


Kitaaba Woyyuu



Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

Kitaaba Woyyuu
Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.

You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

You include the above copyright and source information.

If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.

If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.

Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e

Contents

Kitaaba Seera Dadaa	1
Kitaaba Seera Bayiisaa	80
Kitaaba Seera Lewwootaa	146
Kitaaba Seera Laakkossaa	193
Kitaaba Seera Keessa Deebii	258
Kitaaba Iyaasu'uu	314
Kitaaba Abbootii Mura'aa	350
Kitaaba Ruutii	388
1 Saamu'elii	394
2 Saamu'elii	444
1 Moototaa	487
2 Moototaa	536
1 Dabarsi'ii	585
2 Dabarsi'i	631
Kitaaba Izra'aa	684
Kitaaba Nahimiya'aa	700
Kitaaba Asteerii	724
Kitaaba Iyoobii	736
Kitaaba Faaru'uu	797
Kitaaba Fakkeennaa	958
Kitaaba Lallabaa	1008
Kitaaba Faaruu Solomoonii	1020
Isaayaasii Raagichaa	1031
Kitaaba Ermiyaasii Raagichaa	1124
Gadda Ermiyaasii	1222
Hizqi'elii Raagichaa	1235
Daani'elii Raagichaa	1313
Hose'aa Raagichaa	1336
Yo'elii Raagichaa	1349
Amosii Raagichaa	1356
Obaadiyaa Raagichaa	1370
Yoonasii Raagichaa	1373
Miikiyaasii Raagichaa	1377
Naahomii Raagichaa	1384
Anbaaqoomii Raagichaa	1389
Sefaaniyaa Raagichaa	1393
Haagee Raagichaa	1397
Zakaariyaasii Raagichaa	1400
Milkiyaasii Raagichaa	1415
Wongeela Maatewoosii	1420
Wongeela Maarqoosii	1478
Wongeela Luqaasii	1515
Wongeela Yohaannisii	1574
Hujii Ergantootaa	1617
Worra Rooma'aa	1673
1 Worra Qorontoosii	1697

2 Worra Qorontoosii	1721
Worra Galaatiya'aa	1736
Worra Efesoonii	1745
Worra Filiphisiiyuusii	1753
Worra Qolosaayisii	1760
1 Worra Tasalonge'ee	1766
2 Worra Tasalonge'ee	1772
1 Ximootewoos	1775
2 Ximootewoos	1782
Tiitoos	1787
Filemoon	1791
Ibroota	1793
Ergaa Yaaqoobii	1811
1 Ergaa Pheexroosii	1817
2 Ergaa Pheexroosii	1824
1 Ergaa Yohaannisii	1828
2 Ergaa Yohaannisii	1834
3 Ergaa Yohaannisii	1835
Ergaa Yihuda'aa	1837
Mudhii Yohaannisii	1839

Kitaaba Seera Dadaa Seensa

Kitaab seera dadaa marroo dadama biyya lafaa, marroo dhufa sanyii namaa, marroo jalqaba cubbu'uutii fi rakkinna biyya lafaa irraa, marroo wol qunnamtii Waaqi nama woliin qabuu dubbata. Seerri dadaa kutaa gurgurdoo lamatti qoodamuu dande'a:

1. Foorri 1-11: Marroo dadama biyya lafaatii fi marroo dabarsii ilmaan namaa ta durii dubbata; dabarsiin Addaamiitii fi Heewwanii, Qaayiniitii fi Abeelii, Nohiitii fi bisaan badi'ii, ta xelleephoo Baabiloniille kutaa kana keessa jiran.

2. Foorri 12-50: kutaan kun marroo dabarsii abbootii Israa'elootaa ta durii dubbata; isaan keessaa ka qaraa dhugeeffannaa ifitii fi ajajama Waaqaaf qabuun beekkamaa ka te'e Abrahaam. Achiin duuba dabarsii ilma isaa Yisihagii, akaakoo isaa Yaaqoobiitii fi ilmaan Yaaqoobii kudhanii lama, ka hundee fira Israa'elii kudhanii lamaa te'anetti itti aana. Ijoollee Israa'elii kudhanii lama keessaa keessattuu Yoseef irratti, akkasuma Yaaqoobii fi haala ijoollee isaa dhibii ta gara biyya Gibxi'ii keessa le'iisaaf fide irratti xiyyeeffata.

Kitaab kun marroo dabarsii kolba'aa ka dubbatu te'ulle irra caalaa hujii Waaqi huje odeessa; dabarsii Waaqi dada mara dadeen jalqabee, waadaa Waaqi kolbaa ifitiif yaaduu akka hin lakkinne mudhittuun fixa. Kitaaba kana keessa qacce'ee haga qacce'eetitti abbaan dabarsi'ii, ka worra dokonkora hujutti muruu fi adabu, ka kolbaa ifii sooressuu fi qarqaaru, ka dabarsii isaaniille miidhassu Waaqa. Kitaab durii kun dabarsii dhugeeffannaa kolba'aa galmeessiisaa fi dhugeeffannaan sun akka jiraattu godhiisaaf barreeffame.

Haadhoo Dubbi'ii

Dadama dada maraatii fi sanyii namaa *1:1–2:25*

Jalqaba cubbu'uutii fi rakko'oo *3:1-24*

Addaam irraa kaasee haga Nohii *4:1–5:32*

Nohii fi bisaan badi'ii *6:1–10:32*

Xelleephoo Baabilonii *11:1-9*

Seem irraa kaasee haga Abraamii *11:10-32*

Abbootii: Abrahaam, Yisihag, Yaaqoob *12:1–35:29*

Sanyii Esaawu'uu *36:1-43*

Yoseefii fi obboleeyyan isaa *37:1–45:28*

Israa'elooti biyya Gibxi'ii keessatti *46:1–50:26*

Dabarsii Dadaa

¹ Waaqi jalqaba ol-gubba'aa fi lafa dade.

² Latti akka hin qadduuyyu; duwwaalle'e. Dukkanti qilee abbaaya'aa irra jirtiyyu; Ayyaanni Waaqaalle bisaan irra tatacho'aa ture.

³ Achiin duuba Waaqi, «Ifi te'uu ti» jedhe. Ifille te'e.

⁴ Waaqi ifi dansaa akka te'e dhagge; inni ifa dukkana irraa gargar baase.

⁵ Waaqi ifaan «Guyyaa», dukkanaa «Halkan» jedhee maqaa baase. Kun guyyaa qaraa ti.

⁶ Waaqi, «Bisaan gad hafee fi bisaan ol hafe akka gargar baasu, gubbaan gombobbittiin teetuu ti» jedhe.

⁷ Maarre Waaqi gubbaa gombobbittii godhee, bisaan gubbaa gombobbittii tanaan gad jiru, bisaan gubbaa gombobbittii tanaan ol jiruun gargar baase. Akkasuma teete.

⁸ Waaqi gubbaa gombobbittii «Gubbaa» jedhee maqaa baase. Dhiite, bariitelle'e. Kun guyyaa lammeesso'oo ti.

⁹ Waaqi, «Latti godduun akka mudhattuuf, bisaan gubba'aan jala jiru wolitti dacha'uu ti» jedhe. Akkasuma teete.

¹⁰ Waaqi, lafa goddu'uun, «Lafa», bisaan wolitti dacha'een, «Abbaayaa» jedhee maqaa baase. Tunille dansaa akka teete dhagge.

¹¹ Achiin duuba Waaqi, «Latti biqiltoota adda addaa: mukoota lafa irraa ka akkuma gosa ifiititti midhaan buusuu fi midhaan sanyii ifi keessaa qabu buusu, baachuu ti» jedhe. Akkasuma teete.

¹² Maarre latti biqiltoota adda addaa: mukoota lafa irraa ka akkuma gosa ifiititti midhaan buusuu fi midhaan sanyii ifi keessaa qabu buusu baache; Waaqi tunille dansaa akka teete dhagge.

¹³ Latti dhiite, bariitelle'e; kun guyyaa sadeesso'oo ti.

¹⁴ Akkasuma Waaqi, «Guyya'aa fi halkan gargar baasiisaaf gubbaa irratti ifooti jiraatanuu ti! Isaan beessisa yenna'aa, beessisa bonaa-gannaatii fi wogga'aa,

¹⁵ ifoota gubba'aa te'anee lafa irratti ka ifa kennanu te'anuu ti» jedhe. Tunille akkasuma teete.

¹⁶ Waaqi ifa gugurdaa lama godhe; ifi guddichi guyyaa, ifi diqqayyichi halkan akka ifu godhe. Urjootalle dade.

¹⁷ Waaqi akka lafa irratti issanuuf gubbaa irra isaan keye.

¹⁸ Guyya'aa fi halkan irratti baallii akka isaan qabatanuuf, ifa dukkana irraa gargar akka baasanuuf inni achi isaan keye. Waaqi tunille dansaa akka teete dhagge.

¹⁹ Latti dhiite, bariitelle'e; kun guyyaa arfeesso'oo ti.

²⁰ Achiin duuba Waaqi, «Bisaan lubbuu qabeeyyii adda addaatiin ka guutame te'uu ti; sinbirrootille lafaan gubbaa irra kaatuu ti» jedhe.

²¹ Maarre Waaqi bineensa gugurdaa abbaayaa keessaa, lubbuu qabeeyyii bisaan keessa le'anuu mara, sinbirroota gosa adda addaa mara dade. Waaqi Tunille dansaa akka teete dhagge.

²² Waaqi, «Hora'aa heddadha'a; bisaan abbaaya'aa guuta'a; sinbirrootille lafa irra guuttuu ti» jedhee isaan eebbise.

²³ Latti dhiite, bariitelle'e; kun guyyaa shaneesso'oo ti.

²⁴ Achiin duuba Waaqi, «Latti, dada lubbuu qabanu, gosa adda addaa mara: horii, bineensota lafarra lowanu, bineensa gudda'aa fi diqqaa mara baattuu ti» jedhe.

²⁵ Waaqi bineensota lafaa akka gosa isaaniititti, horii akka gosa isaaniititti, bineensota lafa irra lowanu mara akka gosa isaaniititti dade. Inni tunille dansaa akka teete dhagge. Tunille akkasuma teete.

²⁶ Achiin duuba Waaqi, «Kowa'a, akka bifaa fi akka fakkeenaa keenfaatitti, nama danna ti. Nami qurxummii abbaaya'aa, sinbirroota, horii, bineensota lafa irraa maraa fi bineensota lafa irra lowanu mara irratti baallii qabaatuu ti» jedhe.

²⁷ Maarre Waaqi akka bifa ifiititti nama dade. Dhiiraa fi dubartii godhee isaan dade.

²⁸ Waaqi, «Hora'a, heddadha'a, lafa guuta'a, harkatti isii galfadha'a! Qurxummii abbaaya'aa irratti, sinbirrootan irratti, dada lafa irra munyuuqanu mara irratti baallii qabaatanuu ti» jedhee isaan eebbise.

²⁹ Waaqi, «Ani biqiltuu midhaan buuttuu fi midhaan sanyii ifi keessaa qabu buuttu ta lafa irraa duudii akka nyaattanuuf isinii kenneera.

³⁰ Akkasuma bineensa maraa fi sinbirroota qilleensaa maraaf, akka sagalee isaaniif te'u marraa fi biqiltuu baalaa isaaniif kenneera» jedhe; tunille akkasuma teete.

³¹ Waaqi waan huje mara ilaale; martinuu guddoo dansaa teete; latti dhiite, bariitelle'e; kun guyyaa jayeesso'oo ti.

2

¹ Maarre ol-gubba'aa fi latti, wonni isaan keessa jiranu martille akka kanaan dadamanee muummeffamane.

² Waaqi hujii huje mara hobbaasee, guyyaa torbeesso'oo foorfate.

³ Waaqi waan dade mara hobbaasee, guyyaa torbeesso'ootitti waan foorfateef, guyyaa torbeesso'oo san eebbise; woyyoonselle'e.

⁴ Kun dabarsii dadama ol-gubba'aa fi lafaa ti.

Oorruu Edenii

Yennaa Mootiin Waan Maraa Waaqi ol-gubba'aa fi lafa dade,

⁵ inni lafa irratti bokkeya waan roobisiisee hin jirreef, nami lafa hujulle waan hin jirreef, biqiltuun lafa irra hin jirtuuyyu; wonni tokkolle lattee hin jirtu.

⁶ Teetuu malee, maddi lafa keessaa ol bayee lafa duudii obaasaa ture.

⁷ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Waaqi biyyee lafa irraa fuudhee, nama tolchee, hafuura jiru'uu funnaan isaatitti baafate; namille dada lubbuu qabaatee jiraatu te'e.

⁸ Mootiin Waan Maraa Waaqi karaa aduun baatu Edenitti oorruu dhaabe; nama dade sanille achi keessa keye.

⁹ Mootiin Waan Maraa Waaqi muka ilti namaa halchitu ka adda addaa, ka midhaan isalle nyaatiisaaf dansaa te'e lafa keessaa lachisiise; muki midhaan isaa nyaatanee jiruu namaa kennu, muki dhibiin ka hantu'uu fi dansaa ittiin beekanulle addee oorru'uu san wodhakkaa jiraayyu.

¹⁰ Addee oorru'uu san obaasiisaaf Eden keessaa maddi burqe; maddi achii bayee, gargar qoodamee laga afur te'e.

¹¹ Maqaan laga qaraa Phiishon; inni lafa Hawiila'aa duudii lafa worqiin jirtutti marsee yaa'a.

¹² Worqiin lafa sanii dansa'a; uddowa'aa fi dhakaan gatii guddo'oolle achi jiran.

¹³ Maqaan laga lammeesso'oo Giihon; inni lafa Itoophiya'aa* marsee yaa'a.

¹⁴ Maqaan laga sadeesso'oo Xee gros; innille qachaa Asoorii gara baya adu'uutiin yaa'a. Lagi arfeesso'oolle Efraaxiis jedhama.

¹⁵ Mootiin Waan Maraa Waaqi namicha fuudhee addee oorruu Edenii san akka hujuu fi akka eegu achi keessa keye.

¹⁶ Mootiin Waan Maraa Waaqi namicha ajajee, «Midhaan muka addee oorruu Edenii kana keessa jiranu mara irraa hin nyaatta;

¹⁷ midhaan muka nyaatanee hantu'uu fi dansaa ittiin beekanu san irraa ammoo hin nyaatin. Gaafa isa irraa nyaatte ammoo dhuguma hin duuta» jedhe.

¹⁸ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Waaqi, «Namichi qofii ifii te'uun dansa'aa moti; ani waa'ela qarqaartuu isaa, isaaf hin dada» jedhe.

* **2:13 Itoophiyaa:** Afaan Ibrootaatiin Kuushijedha.

¹⁹ Mootiin Waan Maraa Waaqi biyyee irraa bineensotaa fi sinbirroota dadee, maan jedhee akka inni waamu ilaaliisaaf gara namichaa fide; wonni namichi dada lubbuu qabeeyyii ittiin waame duudiin maqaa te'eef.

²⁰ Maarre namichi horii maraaf, sinbirroota maraaf, bineensota maraafille maqaa baase; namichaaf ammoo waa'elli qarqaaraan hin dhaganne.

²¹ Maarre Mootiin Waan Maraa Waaqi namichatti hirriiba hamaa buusee, adoo inni rafuu, cinaacha isaa keessaa tokkocha fuudhee, addee cinaachaa san fooniin cufe.

²² Mootiin Waan Maraa Waaqi cinaacha namicha keessaa fuudhe san irraa, namittii dadee, gara namichaa fide.

²³ Achiin duuba namichi,
«Amma reefuu, lafeen isi'ii lafee tiyya irraa,
foon isi'ii foon kiyya irraa dhaggame;
isiin namicha irraa waan dhagganteef,
«Namittii» jedhantee waamantuu ti» jedhe.

²⁴ Tanaaf nami abba'aa fi haadha ifii hin lakkisa niitii ifi woliin hin tokkooma; isaanille foon tokko hin te'an.

²⁵ Namichaa fi niitiin isaa lamaanuu qullaa jiraniyyu, te'uu malee wol hin fokkifatanuuyyu.

3

Ajajamiisa Dhabuu Namaa

¹ Bineensa Mootiin Waan Maraa Waaqi dade mara keessaa bofi irra caalaa malte'e. Inni namitti'in, «Dhuguma Waaqi, «Mukoota oorruu tana keessa jiranu mara irraa hin nyaatina'a» isiniin jedheeraa?» jedhe.

² Namittiin bofaan, «Nuuti mukoota addee oorru'uu tana keessa jiranu mara nyaatuu hin dandeenna;

³ ammoo muka addee oorru'uu wodhakkaa jiru qofa, Waaqi, «Midhaan isaa hin nyaatina'a, hin tuqinaalle'e! Kana yoo gootane hin duutan» jedheera» jette.

⁴ Bofi deebisee, «Hin duutanu.

⁵ Isin midhaan muka sanii yennaa nyaattane, ilti teessan akka banantu, hantu'uu fi dansaa beekiisaan akka Waaqaa akka teetanu, Waaqi waan beekuuf» jedheen.

⁶ Namittiin muki sun nyaatiisaaf dansaa, ilatti ka toluu fi ka nama qaroonsu akka te'e yennaa dhaggite, midhaan isaa fuutee nyaatte; dhirsa isi'ii ka isii woliin jirulle'eef kennite; innille nyaate.

⁷ Achiin duuba ilti lamaaniituu banantee, akka qullaa jiranulle beekane; tanaaf baala harru'uu wolitti hodhanee ifi gollatane.

⁸ Yennaa galgalootte namichii fi namittiin Mootiin Waan Maraa Waaqi addee oorru'uu keessa ideemuun qoonqoo isaa dhage'ane; isaan Mootii Waan Maraa Waaqa duraa mukoota addee oorru'uu san odduu dhokatane.

⁹ Mootiin Waan Maraa Waaqi ammoo namicha waamee, «Eessa jirta?» jedheen.

¹⁰ Namichille, «Ani addee oorru'uu keessatti qoonqoo teete dhage'ee, qullaa waan jiruuf, sodaadhee dhokadhe» jedheen.

¹¹ Waaqi, «Qullaa akka jirtu eentu sitti hime? Midhaan muka ani «Hin nyaatin» jedhee si ajaje san nyaattee?» jedheen.

¹² Namichille deebisee, «Namittii akka na woliin leetuuf ati naaf kennitetuu midhaan muka sanii naaf kenne; anille nyaadhe» jedhe.

¹³ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Waaqi, namitti'in, «Wonni ati goote kun maan inni?» jedhe.

Namittiin, «Bofi na sobee jennaan nyaadhe» jette.

Muraa Waaqi Kenne

¹⁴ Mootiin Waan Maraa Waaqi bofaan,
«Kana waan gooteef,
ati horii maraa fi
bineensota mara keessaa ka abaarante hin teeta.
Gadhaa keetiin lafa irra hin loota;
bara jiruu teetii mara biyyee hin nyaatta.

¹⁵ Ani si'ii fi namittii tana oddu'utti,
sanyii isi'iitii fi sanyii teeti oddu'utti
diinummaa hin buusa.
Sanyiin isi'ii sun mataa keeti hin butucha;
atile jimuu isaa hin iddita» jedhe.

¹⁶ Namittiille'een,
«Yennaa ulfoottutti gaargala sitti hin fakkansa;
ciniinsu'uun ijoollee hin deetta.
Tanuma keessa fedhii dhirsa keetii hin qabaatta;
inni si irratti bulchaa hin te'a» jedhe.

¹⁷ Namichalle'een, «Ati dubbii niitii teetii waan dhageetteef, midhaan muka ani, «Hin nyaatin» jedhee si ajajelle waan nyaatteeef,
«Latti sababa keetiif ta abaarante hin teeti;
atile bara jiruu teetii mara
eloo guddo'oon irraa hin nyaatta.

¹⁸ Latti gore'ee fi qumi'uuduu si'iif hin baachi;
atile biqiltuu badda'aa nyaatta.

¹⁹ Ati biyye'e, deebitee biyyee hin teeta.
Biyyee irraa waan dadanteef,
gara isi'ii haga deebitutti,
danfitee eloottee sagalee teeti hin nyaatta» jedhe.

²⁰ Namichi niitiin isaa haadha worra jiraata'aa waan teeteef, maqaa isi'ii
«Heewwan*» jedhee baase;

²¹ Mootiin Waan Maraa Waaqi Addaamii fi niitii isaatiif gogaa irraa woyaa hujee itti uffise.

²² Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Waaqi, «Kunoo, nami hantu'uu fi dansaa beekiisaan nu keessaa akka tokkoo te'eera. Ammalle harka ifitiin hiixatee midhaan muka jiru'uu fuudhee nyaatiisaan, haga bara baraa le'uu hin qabu!» jedhe.

²³ Tanaaf Mootiin Waan Maraa Waaqi addee oorruu Edenii keessaa isa baasee, lafa irraa dadame akka qotu godhe.

²⁴ Waaqi nama baaseen duuba, eennulle gara muka jiru'uu akka hin dhikaanneef, addee oorruu Edenii maddii aduun baatuun ergantoota ifii dada ol-gubba'aa ta koola qadduu fi shallaagaa akka ibiddaa boobe'u ka gara mara garagagalu keye.

4

Qaayinii Fi Abeel

¹ Namichi niitii ifii Heewwan bira geye; isiin ulfoottee ilma deette; «Ani qarqaarsa Waaqaatiin ilma tokko dhaggadheera» jettee maqaa isaa, «Qaayin*»

* **3:20** Heewwan: Afaan Ibrootaatiin *Jiraattuu* jechu'u. * **4:1** Qaayin: Afaan Ibrootaatiin *dhaggadhe* jechu'u.

baache.

² Ammalle obboleessa isaa «Abeel†» deette. Abeel tisse hoole'ee te'ee, Qaayin ammoo qottuu lafaa te'e.

³ Gaafa tokko Qaayin midhaan lafaa irraa Mootii Waan Maraatiif kennansa dhikeesse;

⁴ Abeelille buruusota gara dhalatane keessaa qalee, cooma isaanii ciincaa Mootii Waan Maraatiif dhikeesse; Mootiin Waan Maraa Abeelii fi kennansa isaatiitti gammade.

⁵ Qaayinii fi kennansa isaatiitti ammoo hin gammanne. Maarre Qaayin aaree bobe'ee, mataa buuse.

⁶ Yennaa san Mootiin Waan Maraa Qaayiniin, «Maaf aartee bobeette? Maaf mataa buutte?

⁷ Waan dansaa adoo hujjee jiraattee, fudhatama dhaggattaayyuu motii? Waan dansaa yoo hin hujin ammoo, cubbuun balbala teeti duratti dhokat-teerti; ati ammoo isii injifatu qadda!» jedhe.

⁸ Achiin duuba Qaayin obboleessa ifii Abeeliin, «Koy, gara diidaa baanaa» jedhe. Yennaa gara diidaa bayane, Qaayin obboleessa ifii Abeel irratti ka'ee ijeese.

⁹ Yennaa san Mootiin Waan Maraa, «Obboleessi keeti Abeel eessa jira?» jedhee Qaayin gaafate; inni deebisee, «Ani hin beeku, obboleessa kiyya ka eegu anaa?» jedhe.

¹⁰ Mootiin Waan Maraalle Qaayiniin, «Wonni ati goote kun maan? Dhiigi obboleessa keetii lafa irraa gara kiyya iyyata.

¹¹ Lafa dhiiga obboleessa keetii uniisaaf afaan bante irratti, amma ati abaarantee hin ari'anta.

¹² Yennaa lafa qottu, latti midhaan sii hin baachu; biyya lafaa irra baqataa daaqaleessa hin teeta» jedhe.

¹³ Qaayin deebisee Mootii Waan Maraatiin, «Adabami kiyya ka ani ba'atuu dande'u caala.

¹⁴ Kunoo, ati adha lafa qotii irraa na ariiteerta; fuula keeti duraa dhokatu qaba. Ani biyya lafaa irra baqataa daaqaleessa hin te'a; nami na dhagge martinuu na hin ijeesa» jedhe.

¹⁵ Mootiin Waan Maraa ammoo, «Akkasii moti. Nami tokko yoo si ijeese, ani dachaa torba haluu isa hin baya» jedheen. Tanaaf Mootiin Waan Maraa nami Qaayin dhagge akka hin ijeenneef, beessisa itti godhe.

¹⁶ Achiin duuba Qaayin Mootii Waan Maraa duraa bayee, addee oorruu Edeniitiin gara aduun baatu lafa, «Daaqiisa» jedhantu le'e.

Sanyii Qaayinii

¹⁷ Qaayin niitii ifii bira geye; isiin ulfoottee ilma deette; maqaan isaalle, «Henok» jedhame; Qaayin qachaa tokko ijaaree, «Henok» jedhee maqaa ilma ifii itti baase.

¹⁸ Henok, Iraad uumate; Iraad, Mahuyaa'el uumate; Mahuyaa'el, Maatushaa'el uumate; Maatushaa'elille, Laamek uumate.

¹⁹ Laamek dubartoota lama fuudhe; maqaan takkatti'ii Aada'a, maqaan taanii Xiila'a.

²⁰ Aadaan, Yaabaal deette; inni abbaa sanyii worra dunkaana keessa le'anee horii horsiisanee ti.

²¹ Maqaan obboleessa isaalle Yubaal; inni abbaa sanyii worra kiraara dhowaneetii fi suusullee afuufanee ti.

† 4:2 Abeel: Afaan Ibrootaatiin ka bu'aa hin qanne jechu'u.

²² Xiilaan, Tubaal-Qaayin deette. Inni sibiilaa fi sageettuu irraa meya adda addaa mara huje[‡]. Obboleettiin Tubaal-Qaayinii, Naa'ima'a.

²³ Laamek niitota ifitiin,
«Ee Aada'a, ee Xiila'a! Na dhage'a'a;
niitota Laamekii, waan ani jedhu dhage'a'a.

Nami yoo na madeesse,
dargaggeessi yoo na dirmammeeesse ani hin ijjeesa.

²⁴ Ka Qaayin ijjeesu dachaa torba haluu ka bayanu yoo te'e,
ka na ijjeesu dachaa torbaatamii torba haluu bayan» jedhe.

Sheetii Fi Enoshi

²⁵ Addaam ammalle niitii ifii bira geye; isiille ilma deettee, «Nama Qaayin ijjeese, addee Abeelii Waaqi ilma naa kenne» jettee maqaa isaa, «Sheeti» jettee baatte.

²⁶ Sheetille ilma uumate; innille maqaa isaa, «Enoshi» jedhee baase; namooti bara san maqaa Mootii Waan Maraa waammatiisa jalqabane.

5

Sanyii Addaamii

¹ Tun dabarsii sanyii Addaamii ti. Waaqi yennaa ilmaan namaa dade, akka fakkeenna ifititti isaan dade.

² Dhiiraa fi dubartii dadee, eebbisee, «Nama» jedhee maqaa baase.

³ Addaam woggaa dhibbaa fi soddoma yennaa geye, ilma isa fakkaatu, ka bifa isaa qabu uumate; maqaa isaalle, «Sheeti» jedhee baase.

⁴ Sheeti dhalateen duuba, Addaam woggaa dhibba saddeeti le'ee, ilmaanii fi ijoollee durraa dhibii uumate.

⁵ Addaam wolumatti woggaa dhibba sagalii fi soddoma le'ee, achiin duuba du'e.

⁶ Sheeti dhalatee woggaa dhibbaa fi shanitti Enoshi uumate.

⁷ Enoshi dhalateen duuba, Sheeti woggaa dhibba saddeetii fi torba le'ee, ilmaanii fi ijoollee durraa dhibii uumate.

⁸ Sheeti wolumatti woggaa dhibba sagalii fi kudhanii lama le'ee, achiin duuba du'e.

⁹ Enoshi dhalatee woggaa sagaltamatti Qayinaan uumate.

¹⁰ Qayinaan dhalateen duuba, Enoshi woggaa dhibba saddeetii fi kudhanii shan le'ee, ilmaanii fi ijoollee durraa dhibiille uumate.

¹¹ Enoshi wolumatti woggaa dhibba sagalii fi shan le'ee, achiin duuba du'e.

¹² Qayinaan dhalatee woggaa torbaatamatti Mahalalel uumate.

¹³ Mahalalel dhalateen duuba, Qayinaan woggaa dhibba saddeetii fi afurtama le'ee, ilmaanii fi ijoollee durraa dhibiille uumate.

¹⁴ Qayinaan wolumatti woggaa dhibba sagalii fi kudhan le'ee, achiin duuba du'e.

¹⁵ Mahalalel dhalatee woggaa jaatamii shanitti Yaared uumate.

¹⁶ Yaared dhalateen duuba, Mahalalel woggaa dhibba saddeetii fi soddoma le'ee, ilmaanii fi ijoollee durraa dhibiille uumate.

¹⁷ Mahalalel wolumatti woggaa dhibba saddeetii fi sagaltamii shan le'ee, achiin duuba du'e.

¹⁸ Yaared dhalatee woggaa dhibba tokkoo fi jaatamii lamatti Henok uumate.

[‡] **4:22** Inni sibiilaa fi sageettuu irraa meya adda addaa huje: Hiikkaan durii tokko, «Abbaa worra sibiila tumu maraa ti» jedha. **§ 4:25** Sheeti: Afaan Ibrootaatiin kenne jechu'u.

¹⁹ Henok dhalateen duuba, Yaared woggaa dhibba saddeeti le'ee, ilmaanii fi ijoollee durraa dhibiille uumate.

²⁰ Yaared wolumatti woggaa dhibba sagalii fi jaatamii lama le'ee, achiin duuba du'e.

²¹ Henok dhalatee woggaa jaatamii shanitti Matusaala uumate.

²² Matusaalaan dhalateen duuba, Henok woggaa dhibba sad Waaqa woliin le'ee, ilmaanii fi ijoollee durraa dhibiille uumate.

²³ Henok wolumatti woggaa dhibba sadii fi jaatamii shan le'e.

²⁴ Henok bara jiruu ifii mara Waaqa woliin le'e; Waaqi waan isa fudhateef, inni achiin duuba hin dhaganne.

²⁵ Matusaalaan dhalatee Woggaa dhibbaa fi saddeettamii torbatti Laamek uumate.

²⁶ Laamek dhalateen duuba, Matusaalaan woggaa dhibba torbaa fi saddeettamii lama le'ee, ilmaanii fi ijoollee durraa dhibiille uumate.

²⁷ Matusaalaan wolumatti woggaa dhibba sagalii fi jaatamii sagal le'ee, achiin duuba du'e.

²⁸ Laamek dhalatee woggaa dhibbaa fi saddeettamii lamatti ilma uumate;

²⁹ Laamek, «Hujii nuuti lafa Waaqi abaare tana irratti hunyu, ta nuuti itti eloonnu irraa nu hin foorfachiisa» jedhee maqaa isaa, «Nohi*» baase;

³⁰ Nohi dhalateen duuba, Laamek woggaa dhibba shanii fi sagaltamii shan le'ee, ilmaanii fi ijoollee durraa dhibiille uumate.

³¹ Laamek wolumatti woggaa dhibba torbaa fi torbaatamii torba le'ee, achiin duuba du'e.

³² Nohi dhalatee woggaa dhibba shaniin duuba Seem, Kaamii fi Yaafet uumate.

6

Hammeenna Hamootaa

¹ Yennaa namooti biyya lafaa irratti heddatuu jalqabanetti, ijoolleen durraalle isaaniif dhalatane.

² Worri «Ilmaan Waaqaa*» jedhamanu ijoolleen durraa sun dadansaa akka teete yennaa dhaggane, isaan keessaa akkuma filatanetti niitii fuudhane.

³ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa, «Namooti ka du'anuu waan te'aneef, Ayyaanni Kiyaa ka jiruu kennu isaan woliin haga bara baraa hin le'u; isaan woggaa dhibbaa fi diddama qofa le'an» jedhe.

⁴ Bara sanii fi bara saniin duuba, ijoolleen durraa ta namaatii fi worri, «Ilmaan Waaqaa» jedhamanu wolitti makamaneen worri dhalatane worri bineeyyiin† jiraniyyu; isaan bara durii namoota janna hunnaan nama caalanuu fi worra beekkamane.

⁵ Mootiin Waan Maraa hammeenni namaa lafa irratti attam akka bacate, yaadi isaanii yennaa mara marroo hammeennaa akka te'e dhagge.

⁶ Mootiin Waan Maraa lafa irratti nama daduu isaattitti gaddee, guddoo gaabbe.

⁷ Tanaaf Mootiin Waan Maraa, «Isaan daduu kiyyatti waan gaddeef, namoota, horii, bineensota, waan lafa irra munyuuquu fi sinbirroota lafa irraa haxowee hin balleessa» jedhe.

⁸ Nohi ammoo Mootii Waan Maraa duratti fudhatama dhaggate.

Nohi

* **5:29 Nohi:** Afaan Ibrootaatiin *Foora* jechu'u. * **6:2 Ilmaan Waaqaa:** Worri, «Ilmaan Waaqaa» jedhamane kun dada ol-gubba'aa yookiin sanyii Seetii yookiin bara san moototi ifiin, «Ilmaan Waaqaa» waan jedhanuuf, mootota gugurdoo te'uu dande'an. † **6:4 Bineeyyiin:** Afaan Ibrootaatiin *Nefiliim* jedha.

⁹ Nohi dhaloota san keessatti nama balchaa, ka komii hin qannee fi ka Waaqa waliin ideeme.

¹⁰ Ilmaan Nohi uumate sadiin Sheem, Kaamii fi Yaafet.

¹¹ Yennaa san kolbaan lafa irraa duudiin Waaqa duratti hamoolee teete; lattille hunnaan wolitti ka'iisaan guutante.

¹² Waaqi biyya lafaa ilaalee, kolbaan marti hammeennaan akka le'iisatti jirtu dhagge.

¹³ Waaqi Nohiin, «Latti hunnaan wolitti ka'iisaan waan guutanteef, ani isaan mara lafa irraa balleessiisaaf murteeffadheera.

¹⁴ Ati muka dansaa irraa hoboloo guddittii huji; keessa isi'iititti kolloo kolloo baasi! Keessaa fi duuballe'een leyyaa lafa keessaa dhaggamuun duuchi!

¹⁵ Dheerinna isi'ii meetira dhibba tokkoo fi soddonii sad, badhinna isi'ii meetira diddamii lama, hojjaa meetira kudhanii sad godhi.

¹⁶ Hoboloo guddittii san heellichoo itti godhi; heellichoo oddu'utti saan-timeetira afurtamii afur addee duwwaa lakkisi; cinaa irratti balbala godhi. Hoboloo san hojjaa isi'ii jala, jiddu'uu fi gubbaa tolchii addee saditti gargar qoodi!

¹⁷ Ani kunoo, gubba'aan jalatti waan lubbuu qabu mara lafa irraa balleessiisaaf, bisaan badi'ii hin fida; wonni lafa irratti lubbuu qabu marti hin bada.

¹⁸ Ani ammoo si waliin gondoosoo hin gondoosadha; atii fi niitiin teeti, ilmaan teetii fi niitoleen ilmaan teetii gara hoboloo guddittii seena'a.

¹⁹ Waan lubbuu qabu maralle, si waliin jiru'uun akka jiraatanu, gosuma gosa keessaa, lama lama tolchii, kormaa fi dhalaa gara hoboloo guddittii sanii seensisi.

²⁰ Sinbirroota akkuma gosa gosa isaaniitiin, horii akkuma gosa gosa isaaniitiin, wonni lafa irra lowu akkuma gosa gosa isaaniitiin, gosi martinuu lama lama te'anee, jiru'uun jiraatiisaaf gara keeti dhufanuu ti.

²¹ Ammalle sagalee adda addaa ta atii fi wonni lubbuu qabanu kun marti nyaattanu hoboloo guddittii keessatti tuuli» jedhe.

²² Nohi akkuma Waaqi isa ajajetti kana mara huje.

7

Bisaan Badi'ii

¹ Mootiin Waan Maraa Nohiin, «Dhaloota kana keessaa ati callaan balchaa akka teete waan dhaggeef, atii fi maatiin teeti gara hoboloo guddittii tanaa seena'a.

² Hori'ii fi bineensa qulqulluu te'ane mara keessaa korma torba torbaa fi dhalaa torba torba, ka qulqulluu hin te'in mara keessalle'ee korma tokko tokkoo fi dhalaa tokko tokko fuudhiitii gara hoboloo guddittii galchi.

³ Sinbirrootalle gosuma gosa isaanii keessaa korma torba torbaa fi dhalaa torba torba lafa irratti gosi isaanii akka jiru'uun jiraatanu hobolo'otti galchi.

⁴ Ani guyyaa torbaan duuba guyyaa afurtamaa fi halkan afurtama lafa irratti bokkeenni akka roobu godha; dada lubbuu qabu ka ani dade mara lafa irraa haxowee balleessa!» jedhe.

⁵ Nohille kana mara akkuma Mootiin Waan Maraa isa ajaje godhe.

⁶ Yennaa bisaan badi'ii lafatti dhufe san, Nohi nama woggaa dhibba jaa ti.

⁷ Bisaan badi'ii jalaa bayiisaaf Nohii fi niitiin isaa, ilmaan isaatii fi niitoleen isaanii gara hoboloo guddittii seenane.

⁸ Hori'ii fi bineensi qulqulluu te'anee fi qulqulluu hin te'in, sinbirrootille, wonni lafa irra lowulle martinuu,

⁹ lama lama, kormaa fi dhalaan, akka Waaqi ajajetti, gara Nohii dhufanee waliin hoboloo guddittii san seenane.

¹⁰ Guyyaa torbaan duuba bisaan badi'ii dhufe.

¹¹ Kunille bara jiruu Nohii woggaa dhibba jayeesso'oo, ji'a lammeesso'oo, ji'a san keessa guyyaa kudhanii torbeesso'oo te'e; gaafas burqituun golba qile'ee gugurdoon dho'anee, foddaan gubba'aa banante.

¹² Bokkeenni guyyaa afurtamaa fi halkan afurtama lafa irratti bu'e.

¹³ Guyyuma jedhame san Nohi, niitiin Nohii, ilmaan isaa Seem, Kaam, Yaafetille, niitoleen ilmaan isaa sadiinuu, isa waliin hoboloo guddittii san seenane.

¹⁴ Bineensoti gosa adda addaa, horiin gosa adda addaa marti, wonni lafa irra lowanu marti, sinbirrooti gosa adda addaa marti, dadi koolaan ka'anuu marti,

¹⁵ dadi hafuura jiru'uu ifi keessaa qaddu marti lama lama te'anee Nohi waliin gara hoboloo guddittii sanii seenane.

¹⁶ Worri seenanella, akkuma Waaqi isa ajajetti, kormaa fi dhalaa dada maraatiyyu; achiin duuba Waaqi balbala hobolo'oo itti cufe.

¹⁷ Bisaan badi'ii guyyaa afurtama lafa irratti roobuma roobee, lafa irra guutee, hoboloon lafa irraa ol kaate.

¹⁸ Bisaan lafa irraa guddoo ol ka'ee, hoboloon guddittiin sun bisaan irra deente.

¹⁹ Bisaan lafa irraa guddoo ol ka'ee, gaarota ol dhedheeraa gubba'aan jala jiranu mara dhosse.

²⁰ Bisaan qaccee gaara irraayyuu gara meetira torbaa dabaree dhosse.

²¹ Wonni lubbuu qabaa, dadi lafa irra munyuuqanu martinuu, sinbirrooti, horiin, bineensi, nami martinuu du'ane.

²² Wonni lafa irra le'u ka hafuura baafatu marti du'e.

²³ Waaqi waan dadamee lafa irra le'u, nama, horii, waan lafa irra lowanuu fi sinbirroota haxowee balleesse; isaan lafa irraa haxowamanee badane. Nohii fi waan isa waliin hoboloo guddittii keessa jiru qofattuu hafe.

²⁴ Bisaan guyyaa dhibbaa fi shantama gad hin dhidhanne.

8

Bisaan Gad Dhidhate

¹ Waaqi ammoo Nohi, hori'ii fi bineensota isa waliin hoboloo guddittii keessa jiranu mara qaabate; inni qilleensa lafa irratti buuse; Bisaanille gad dhidhatuu jalqabe.

² Burqituun golba qile'eetii fi balbalti gubba'aalle cufante; bokkeenni gubba'aalle caamee,

³ bisaan laana laana gad dhidhatuu jalqabe. Guyyaa dhibbaa fi shantamaan duuba lafa irraa dhidhate.

⁴ Hoboloon guddittiin sun ji'a torbeesso'oo keessa, guyyaa kudhanii torbeesso'oo, gaara Araaraatii gubbaa dhuttee teette.

⁵ Bisaan haga ji'a kudhaneesso'oo dhidhataatuma deeme; ji'a kudhaneesso'oo keessa guyyaa qaraa, qacceen gaarotaa mudhatte.

⁶ Guyyaa afurtamaan duuba Nohi qowa hobolo'otti baaseeru san banee,

⁷ harraaqessa erge; harraaqessi sun haga bisaan lafa irraa gogutti asii fi achi ka'aa ture.

⁸ Achiin duuba Nohi bisaan lafa irraa akka gad dhidhate ilaaliisaaf saphaliisa erge.

⁹ Ammoo bisaan ammalle lafa duudii irra waan jiruuf, addee itti tee'u dhabee, gara hoboloo guddittii sanii deebi'ee gara isaa dhufe; inni harka ifii gad baasee qabee, hoboloo guddittii sanitti ol seensise.

¹⁰ Guyyaa torba tureen duuba, ammalle saphaliisa hoboloo guddittii keessaa erge.

¹¹ Saphaliisi sun kichuu baala ejersaa afaan ifiititti qabatee, galgaluma san deebi'ee gara isaa dhufe. Akka kanaan Nohi akka bisaan lafa irraa gad dhidhateeru beeke.

¹² Achiin duuba Nohi guyyaa torba dhibii turee, saphaliisa erge; saphaliisi eega san gara isaa hin deebine.

¹³ Nohi dhalatee woggaa dhibba jaa fi tokkeesso'otti, ji'a tokkeesso'oo keessa, guyyaa tokkeesso'oo, bisaan lafa irraa goge; Nohille heellichoo Hoboloo guddittii irraa kaasee, ilaale; irri lafaalle akka gogeeru dhagge.

¹⁴ Ji'a lammeesso'oo keessa, guyyaa diddamii torbeesso'ootitti, latti guutu-matti godde.

¹⁵ Achiin duuba Waaqi, Nohiin,

¹⁶ «Niitii teeti, ijoollee teetii fi niitii ijoollee teetii woliin hoboloo keessaa bayi.

¹⁷ Dadi lubbuu qabanu ka si woliin jiranu martinuu sinbirrooti, horiin, bineensoti, worri lafa irra lowanu martinuu, lafa irratti horanee akka heddatanu, si woliin akka bayanu godhi» jedhe.

¹⁸ Maarre Nohi ijoollee ifii, niitii ifiitii fi niitii ijoollee ifii woliin gad baye.

¹⁹ Horiin marti, bineensoti marti, sinbirrooti marti, worri lafa irra lowanu marti, akkuma gosa gosa isaaniititti hoboloo guddittii san keessaa gad bayane.

Nohi Ciincaa Dhikeesse

²⁰ Nohi addee ciinca'aa Mootii Waan Maraatiif ijaare; horii qulqulluu mara keessaa, sinbirroota qulqulluu mara keessaa addee ciinca'aa san irratti ciincaa dhikeesse.

²¹ Fooleen ciinca'aa sun Mootii Waan Maraa yennaa gammachiitte, Mootiin Waan Maraa gadhaa ifii keessatti, «Ani sababa namaatiif deebi'ee lafa hin abaaru; yaadi isaanii ijoollumma'aanuu hamaa akka te'e ani waan beekuuf, akka amma godhe kana, waan lubbuu qabu lafa irraa ijjumaa deebi'ee hin balleessu.

²² «Haga latti tun jirtutti
facaasu'uu fi haamuun, qabbanaa fi o'i,
bonaa fi ganni, guyya'aa fi halkan,
hin dhaabbatanu» jedhe.

9

Gondooroo Waaqi Nohi Woliin Gondoo

¹ Waaqi Nohii fi ilmaan isaa eebbisee, «Hora'aa, heddadha'a, lafa guuta'a!

² Bineensoti lafa irraa marti, sinbirrooti marti, bineensoti lafa irra lowanu marti, qurxummiin abbaaya'aa marti, isin sodaatanee bararaqanuu ti; isaan harka keessanitti kennamaneeran.

³ Wonni jiraatee tacho'u martinuu sagalee isiniif te'anuu ti. Akkuma duri biqiltuu magariisa akka sagalee isiniif te'anuu kenne, amma waan kana mara sagalee akka isiniif te'anuu kenneera.

⁴ Ammoo jiruun dhiiga keessa waan jirtuuf, foon dhiigi keessa jiru ammalle hin nyaatina'a.

⁵ Ani lubbuu teessan eegiisaaf, dhiiga keessan harka nama nama san ijeeseetii fi bineensa nama san ijeesee irraa hin barbaada.

- 6 «Ani Waaqi akka bifa tiyyaatitti,
 nama waan dadeef,
 nami dhiiga namaa dhangalaasu
 dhiigi isaa harka namaatiin
 hin dhangalaafama.
- 7 «Isin hora'a, heddadha'a, bacadha'aa lafa guuta'a!» jedhe.
- 8 Achiin duuba Waaqi Nohii fi ilmaan isaa ta isa woliin jirtuun,
- 9 «Kunoo ani isinii fi sanyii teessan worra isiniin duubaa woliin gondoorroo tiyya hin gondoora;
- 10 akkasuma dada lubbuu qabu ka isin woliin jiru mara, sinbirroota mara, horii mara, bineensota mara, waan isin woliin hoboloo guddittii san keessaa bayane mara woliin gondoorroo tiyya hin gondoora.
- 11 Ani ijumaa dada lubbuu qabu bisaan badi'iitiin lafa irraa deebi'ee akka hin balleessineef, bisaan badi'ii ijumaa deebi'ee lafa akka hin balleessine, ani isin woliin gondoorroo tiyya hin gondoora.
- 12 Gondoorroo ani isinii fi dada lubbuu qabu ka isin woliin jiruuf, dhaloota dhufu maralle'ee gondoore tanaaf beessisa kana kenna:
- 13 ani hiituu tiyya duumensa keessa keya; hiituun tunille beessisa Gondoroo anaa fi biyyaa lafaa oddu'utti te'e hin teeti.
- 14 Yennaa ani gubbaa duumensaan gollee, hiituun duumensa keessaan mudhattu,
- 15 ani gondoorroo tiyya ta isinii fi dada lubbuu qabu mara woliin gondoore hin qaabadha; bisaan badi'ii dada lubbuu qabu mara deebi'ee ijumaa hin balleessu.
- 16 Yennaa hiituun duumensa keessaan mudhattu, ani isii ilaalee, gondoroo haga bara baraa ta anaa fi dada lubbuu qabu ka lafa irra jiru mara oddu'utti gondoore hin qaabadha» jedhe.
- 17 Waaqi Nohiin, «Beessisi gondoro'oo ka ani ifii fi dada lubbuu qabu ka lafa irra jiru mara oddu'utti gondoore hiituu tana» jedhe.

Nohii Fi Ilmaan Isaa

- 18 Nohii fi ilmaan isaa ta hoboloo guddittii keessaa baate Seem, Kaamii fi Yaafet. Kaam abbaa Kana'aanii ti.
- 19 Isaan sadiin kun ilmaan Nohii ti; kolbaan lafa irraa duudiinuu ilmaan sadiin tana irraa dhutte.
- 20 Nohi, nama lafa qotu, ka woynii dhaabiisa jalqabe.
- 21 Gaafa tokko inni yennaa daadhii woyni'ii unee machowe, qullaa dunkaanii ifii keessa rafe.
- 22 Abbaan Kana'aanii, Kaam, abbaa ifii qullaa jiruun dhaggee, alatti obboleeyyan ifii lamatti hime.
- 23 Achiin duuba Seemii fi Yaafet woyaa fuudhanee gurmoo ifii lamaan irra buufatanee, dudda duubaan deemanee nafa abbaa isaanii qullaa san dhossane; fuulli isaanii irraa waan garagaleeruuf, nafa qullaa abbaa ifii san hin dhaggine.
- 24 Nohi machii yennaa bayyanate, waan ilmi isaa maandhichi isa irratti godhe beekke,
- 25 «Kana'aan ka abaarama te'uu ti;
 garbicha garboota obboleeyyan ifii te'uu ti» jedhe.
- 26 Nohi ammalle,
 «Mootiin Waan Maraa Waaqi Seemii, leellifamuu ti;
 Kana'aan garbicha Seemii te'uu ti.
- 27 Waaqi biyya Yaafetii badhisuu ti!
 Yaafet dunkaanii Seemii keessa le'uu ti;

Kana'aan garbicha Yaafetiille te'uu ti» jedhe.

²⁸ Bisaan badi'iitiin duuba Nohi woggaa dhibba sadii fi shantama le'e.

²⁹ Inni wolumatti woggaa dhibba sagalii fi shantama le'ee, achiin duuba du'e.

10

Sanyii Ilmaan Nohii

(1 Dab. 1:5-23)

¹ Ilmaan Nohii, Seem, Kaamii fi Yaafet; bisaan badi'iitiin duuba, isaan sadiin kun ijoollee uumatane; hiddi dhaloota sanyii isaanii kanatti aanee laakkowama.

Sanyii Yaafetii

² Ilmaan Yaafetii: Gomer, Maagoog, Maada'i, Yaawaan, Tubaal, Meshekii fi Tiiraas.

³ Ilmaan Gomerii: Ashikenaas, Riifaatii fi Togaarma'a.

⁴ Ilmaan Yaawaanii: Eliishaa, Tarshiish*, Kitiimii† fi Rodaaniim.

⁵ Worri lafa qarqara abbaayaa Mediteraaniya'aa keessa le'u, sanyii Yaafetii tana irraa dhufane. Isaan akka biyya biyya isaaniititti, akka afaan afaan isaaniititti, akka gosa gosa isaaniititti qoqoodamee worra le'u.

Sanyii Kaamii

⁶ Ilmaan Kaamii: Kuushi, Misraayimii‡, Fuxii§ fi Kana'aan.

⁷ Sanyiin Kuushii: Saabaa, Hawiilaa, Sabtaa, Ra'ima'aa fi Sabtekaas. Ilmaan Ra'ima'aa: Sheeba'aa fi Dedaan.

⁸ Kuushi Naamrud uumate; Naamrud lafa irratti nama qaraa jabaa lolaan injifataa te'e.

⁹ Inni qarqaarsa Mootii Waan Maraatiin adamsaa jaba'a; tanaaf, namooti, «Mootiin Waan Maraa akka Naamrudii adamsaa jabaa si godhu» jedhan.

¹⁰ Inni jalqaba qachoota biyya Shiinaarii ka «Baabilon» jedhamee beekkamu keessaa Baabel, Erek, Akaadii fi Kaalne irratti mootii te'e.

¹¹ Achi irraa gara biyya Asoorii dhaqee qachoota Nanawwe'ee, Rohobot-Irii fi Kalaa ijaare.

¹² Akkuma Nanawwe'ee fi Kalaa wodhakka'atti qachaa guddicha Resen ijaare.

¹³ Sanyiin Misraayimii: Ludiin, Anaamiim, Lehabiim, Naftuhiim,

¹⁴ Fatrusiim, Kasluhiim ka worri Filisxeemotaa irraa dhaggamee fi Kaftoriim uumate.

¹⁵ Kana'aan ilma ifii angaficha Sidoonii fi ka itti aanu Heeti uumate.

¹⁶ Inni ammalle abbaa Yibusootaa, Amoorotaa, Girgaashotaa,

¹⁷ Hiiwotaa, Arqotaa, Siinotaa,

¹⁸ Arwaadotaa, Simaarotaa, kamaatotaatiyyu; duuba irra maatiin Kana'aanii,

¹⁹ haga meessaa Kana'aanii ka Sidoon irraa gara fuullee Gergariitii haga Gaaza'aatitti, gara fuullee Sodoonii, Gomora'aa, Adima'aatii fi Zebo'iimiitiin haga Laasha'aa faffacaate.

²⁰ Sanyiin Kaamii ka maatii maatii'in, afaan afaaniin, lafa lafaan, gosa gosaan qoqoodamane isaan kana.

Sanyii Seemii

* **10:4 Tarshiish:** Bara ammaa *Isiphaniyaa* jedhama. † **10:4 Kitiim:** Bara ammaa *Qophiroos* jedhama.

‡ **10:6 Misraayim:** Yennaa ammaa *Gibxi* jedhama. § **10:6 Fuxi:** Yennaa ammaa *Liibiyaa* jedhama.

²¹ Obboleessi angafichi Yaafetii, Seemille, ilmaan uumate; ilmaan Ebeerii marti sanyii isaa ti.

²² Ilmaan Seemii: Ilaam, Ashuur, Arfaaksaad, Ludii fi Aaram.

²³ Ilmaan Aaramii: Uz, Hul, Geterii fi Maash.

²⁴ Arfaaksaad, Shalaa uumate; Shalaan, Ebeer uumate;

²⁵ Ebeer ilmaan lama uumate; bara tokkochi dhalate latti waan qoqoodanteef, maqaan isaa, «Feleg*» jedhame; maqaan obboleessa isaa Yoqxaan.

²⁶ Ilmaan Yoqxaan uumate: Almoodaad, Sheleef, Hasarmaaweti, Yaaraa,

²⁷ Hadoraam, Uzaal, Digilaa,

²⁸ Obaal, Abiimaa'el, Sheebaa,

²⁹ Ofiir, Hawiila'aa fi Yobaab; worri kun martinuu ilmaan Yoqxaanii ti.

³⁰ Latti isaan keessa le'ane, biyya koobittii gara aduun baatuu Meshaa irraa ka'ee haga Sefariititti badhatti.

³¹ Sanyiin Seemii ka maatii maati'iin, afaan afaaniin, lafa lafaan, gosa gosaan qoqoodamane isaan kana.

³² Maatiin ilmaan Nohii, akka dhaloota isaaniitiin, gosa gosa isaaniitiin ka qoqoodamane isaan kana; bisaan badi'iitiin duuba, gosi biyya adda addaa ta lafa irratti faffacaate marti, sanyii ilmaan Nohii irraa dhaggante.

11

Xelleephoo Baabilonii

¹ Bara san kolbaan biyya lafaa duudiin afaan tokkocha dubbatti.

² Isaan gara aduun baatu irraa yennaa godaanane, dirree takka lafa Shiinaariititti* dhaqanee achitti qubatane.

³ Isaan, «Kowa'a, faara loonnee, akka jabaatu gunnaa» woliin jedhane; addee dhaka'aa faara looba'aa, addee siminto'oo leyyaa biyyee keessaa dhaggamutti fayyadamane.

⁴ Achiin duuba isaan, «Kowa'a, qachaa qaccean xelleephoo isaa ol-gubbaa gewu ijaarrannee, lafa duudii irratti akka hin bittinnoonneef, worra gurraa teena!» jedhane.

⁵ Mootiin Waan Maraa qacha'aa fi xelleephoo ilmaan namaa ijaarane san ilaaliisaaf gad bu'e.

⁶ Inni, «Kunoo, isaan kolbaa takka'a; marti isaaniituu afaan tokkocha dubbatan; kun waan isaan huju'uuf jiranu keessaa ka jalqabaa ti; waan isaan hujiisaaf yaada qabanu keessaa, takkaalle wonni isaan hujuu dadhabanu hin jirtu.

⁷ Kowa'a, gad buunee, akka isaan wolii hin galle,† afaan isaanii wol keessa akka makamu‡ goona» jedhe.

⁸ Maarre Mootiin Waan Maraa lafa duudii irra isaan bittinneessee, qachaalle ijaariisa lakkisane.

⁹ Mootiin Waan Maraa achitti afaan biyya lafaa wol keessa akka makamu waan godheef, maqaan addee sanii, «Baabel»§ jedhamee moggaafame; Mootiin Waan Maraa achi irraa biyya lafaa duudii irra isaan bittinneesse.

Sanyii Seemii

¹⁰ Sanyiin Seemii isaan kana: Bisaan badi'iitiin duuba woggaa lama turee, Seem dhalatee woggaa dhibbatti, ilma ifii Arfaaksaad uumate.

* **10:25 Feleg:** Afaan Ibrootaatiin *Qoqoodamuu* jechu'u. * **11:2 Shiinaar:** Biyya Baabilon ti. † **11:7** Akka isaan wolii hin galle: Tokko dubbii kaanii akka hin dhageenn. ‡ **11:7 Makamu:** Marqam. § **11:9 Baabel:** Afaan Ibrootaatiin *Makamaa* jechu'u.

¹¹ Arfaaksaad uumateen duuba, Seem woggaa dhibba shan le'ee, ilmaanii fi ijoollee durraa dhibii uumate.

¹² Arfaaksaad dhalatee woggaa soddonii shanitti, Shalaa uumate;

¹³ Shalaan dhalateen duuba, Arfaaksaad woggaa dhibba afurii fi sad le'ee, ilmaanii fi ijoollee durraa dhibii uumate.

¹⁴ Shalaan dhalatee woggaa soddomatti, Ebeer uumate;

¹⁵ Ebeer dhalateen duuba, Shalaan woggaa dhibba afurii fi sad le'ee, ilmaanii fi ijoollee durraa dhibii uumate.

¹⁶ Ebeer dhalatee woggaa soddonii afuritti, Feleg uumate;

¹⁷ Feleg dhalateen duuba, Ebeer woggaa dhibba afurii fi soddoma le'ee, ilmaanii fi ijoollee durraa dhibii uumate.

¹⁸ Feleg dhalatee woggaa soddomatti, Re'uu uumate;

¹⁹ Re'uun dhalateen duuba, Feleg woggaa dhibba lamaa fi sagal le'ee, ilmaanii fi ijoollee durraa dhibii uumate.

²⁰ Re'uun dhalatee woggaa soddonii lamatti, Seruug uumate;

²¹ Seruug dhalateen duuba, Re'uun woggaa dhibba lamaa fi torba le'ee, ilmaanii fi ijoollee durraa dhibii uumate.

²² Seruug dhalatee woggaa soddomatti, Naahor uumate;

²³ Naahor dhalateen duuba, Seruug woggaa dhibba lama le'ee, ilmaanii fi ijoollee durraa dhibii uumate.

²⁴ Naahor dhalatee woggaa diddamii sagalitti, Taaraa uumate;

²⁵ Taaraan dhalateen duuba, Naahor woggaa dhibba tokkoo fi kudhanii sagal le'ee, ilmaanii fi ijoollee durraa dhibii uumate.

²⁶ Taaraan dhalatee woggaa torbaatamatti, Abraam, Naahorii fi Kaaraan uumate.

Sanyii Taara'aa

²⁷ Sanyiin Taara'aa isaan kana: Taaraan abbaa Abraamii, Naahoriitii fi Kaaraanii ti; Kaaraan abbaa Looxii ti.

²⁸ Kaaraan abbaan isaa Taaraan adoo jiruu addee itti dhalatetti, lafa Kaldootaa, Ur keessatti du'e.

²⁹ Abraamii fi Naahor niitii fuudhane; maqaan niitii Abraamii Saaraayi; maqaan niitii Naahoriille Miilka'a. Isiin intala Kaaraanii ti; Kaaraan Miilka'aa fi Yiiska'aafille abba'a.

³⁰ Saaraan maseena; isiin ijoollee hin qaddu.

³¹ Taaraan ilma ifii Abraam, akaakoo ifii Looxii ilma Kaaraanii, Saaraayii niitii ilmaa ifii Abraamii, fudhatee isaan woliin, biyya Kaldootaa Ur irraa ka'ane gara lafa Kana'aanii dhaqanee achi qubatane.

³² Taaraan woggaa dhibba lamaa fi shan le'ee, achiin duuba Kaaraan keessatti du'e.

12

Waaqi Abraam Waame

¹ Mootiin Waan Maraa, Abraamiin, «Biyya teeti, gosa teeti, maatii abbaa keetiille lakkisiitii, gara lafa ani sitti mudhisuu dhaqi.

² «Ani gosa guddoo si hin godha;
si hin eebbisa.

Gurra keeti hin guddisa;

worra dhibi'iifille eebba hin teeta.

³ Ani worra si eebbisu hin eebbisa;

worra si abaaru hin abaara.

Kolbaan lafa irraa duudiin

karaa keetiin ta eebbifante hin teeti» jedhe.

⁴ Maarre Abraam akkuma Mootiin Waan Maraa isatti hime deeme; Looxille isa woliin deeme. Abraam biyya Kaaraaniitii yennaa baye san, woggaan isaa torbaatamii shan.

⁵ Abraam niitii ifii Saaraayii fi ilma obboleessa ifii Loox, waan qabanu maraa fi hojjattoota Kaaraanitti dhaggatanelle fudhatanee, gara lafa Kana'aanii deemiisaaf ka'ane. Isaan lafa Kana'aanii yennaa geyane,

⁶ Abraam lafa san keessa dabaree, addee, «Sheekem» jedhantu, haga qilxaa woyyicha Moree deeme. Yennaa san worri Kana'aanotaa lafa san keessa jiraniyyu.

⁷ Yennaa san Mootiin Waan Maraa Abraamitti mudhatee, «Ani lafa tana sanyii teetiif hin kenna» jedhe; Abraamille addee sanitti, Mootii Waan Maraa ka isatti mudhateef addee ciinca'aa ijaare.

⁸ Achii ka'ee gara lafa koobittii ta Bet'el irraa gara baya adu'uutitti dhaggantuu dhage; dukaani ifille Beti'el irraa gara seensa adu'uutitti, Aayin irraa gara baya adu'uutitti dhaabate; achille'etti addee ciinca'aa Mootii Waan Maraatiif ijaaree, achitti maqaa Mootii Waan Maraa waammate.

⁹ Achiin duuba, Abraam gara kibba Kana'aanii* garuma duraa deeme.

Abraam Biyya Gibxi'ii Keessatti

¹⁰ Biyya kibba Kana'aaniititti beelti hantuun waan buuteef, Abraam yennaa beelaa san achitti dabarsiisaaf, gara biyya Gibxi'ii gad bu'e.

¹¹ Inni Biyya Gibxi'ii seeniisaaf yennaa dhikaate, niitii ifii Saaraayiin, «Ani akka ati dubartii dansitti'ii hin beeka;

¹² Worri Gibxi'ii yennaa si dhagge, «Tun niitii isaa ti» jedhanee na hin ijjeesan; si ammoo hin lakkisan.

¹³ Marroo teetiif akka naaf tolu, sababa keetiif akka jiraadhuuf, «Ani obboleettii isaa ti» jedhi» jedhe.

¹⁴ Abraam biyya Gibxi'ii yennaa seene, worri Gibxi'ii niitiin isaa guddoo dansittii akka teete dhaggane.

¹⁵ Qondaaltoti mootii Gibxi'ii yennaa isii dhaggane, dansummaa isi'ii mooticha Gibxi'ititti jajane. Gara mana mootichaalle isii geessane.

¹⁶ Mootichille isi'iif jedhee Abraamitti tole; inni hoolee, loon, harree, gaalota, tajaajiltoota dhiiraatii fi dubarti'ii isaaf kenne.

¹⁷ Ammoo sababa Saaraayii niitii Abraamiitiif, Mootiin Waan Maraa mootichaa fi kolbaa mana mootichaa keessa jirtutti dhukkuba hamaa buuse.

¹⁸ Maarre mootichi biyya Gibxi'ii Abraam waamee, «Wonni ati na irratti hujje kun maan? Akka isiin niitii teeti teete maaf natti hin himin?

¹⁹ Ati maaf, «Isiin obboleettii tiyya» jette? Tanaaf ani niitii isii godhadhee fuudhe. Amma niitiin teeti kunoo ti; fudhadhuu deemi!» Jedheen.

²⁰ Mootichi marroo Abraamiitiif namoota ajajee, isaan niitii isaatii fi waan inni qabu mara woliin biyya Gibxiitii isa baasane.

13

Abraamii fi Loox Gargar Bayane

¹ Abraam niitii ifitii fi waan qabu mara fudhatee, gara biyya kibba Kana'aanii* deeme; Looxille isa woliin deeme.

² Abraam hori'iin, meeti'ii fi worqi'iin guddoo dureessa.

³ Inni kibba Kana'aaniitii ka'ee, asii fi achi goggodaanee, haga Bet'elii deeme, Bet'elii fi Aayi odduu lafa dur dukaana ifii itti dhaabbateeru takka geye.

* **12:9** Kibba Kana'aanii: Afaan Ibrootaatiin *Negeb* jedha. * **13:1** Kibba Kana'aanii: Yaadannoo Dad. 12:9 irratti kenname ilaali.

⁴ Dur inni addee tanatti addee ciincaa itti ciincessanu ijaareeraayyu; inni achitti maqaa Mootii Waan Maraa waammate.

⁵ Looxiin Abraam woliin deemelle hori'ii fi maatii, akkasuma tajaajiltoota ifii qabaayyu.

⁶ Abraamii fi Loox horii guddaa waan qabanuuf, woliin turiisaaf lafa marraa isaan lamaaniifuu geettu dhabanee,

⁷ tissitoota horii Abraamiitii fi tissitoota horii Looxii oddu'utti lolli ka'e; yennaa san Kana'aanotii fi Pheeriisoti lafa san keessa le'aniyyu.

⁸ Achiin duuba Abraam, Looxiin, «Nuuti obboleeyyan waan teeneef, si'ii fi ana oddu'utti, tissitoota horii keetiitii fi tissitoota horii kiyyaa oddu'utti lolli ka'uu hin malle.

⁹ Kunoo, latti duudiin si dura jirtii motii? Gargar baanuu ti! Ati yoo gara bita'aa fudhatte, ani gara middaa deema; yookiin ati yoo gara middaa fudhatte, ani gara bita'aa deema» jedhe.

¹⁰ Loox adaala ilaalee, dhooqi Yordaanosii haga qachaa Zo'aariititti akka oorruu Mootiin Waan Maraa Edenitti godhee, akka lafa Gibxi'iille bisaan akka qaddu dhagge; tun Mootiin Waan Maraa qachoota Sodoomiitii fi Gomora'aa balleessiisaan dura.

¹¹ Maarre Loox dhooqa Yordaanosii mara filatee, gara baya adu'uu go-daane. Akka kanaan isaan lamaan gargar bayane.

¹² Abraam lafa Kana'aanii keessa le'ee, Loox ammoo qachoota dhooqa Yordaanosii odduu le'e; dunkaana ifiille Yordaanos biratti dhaabbate.

¹³ Bara san kolbaan Sodoomii hamoolee, worra cubbuu guddoon Mootii Waan Maraa yakkeeru.

Abraam Gara Kebroonii Godaane

¹⁴ Loox isa irraa gargar bayeen duuba, Mootiin Waan Maraa Abraamiin, «Ol jedhiitii, lafa amma jirtu tana, kaabaa fi kibba, gara aduun baatuu fi seentu ilaali;

¹⁵ Lafa ati dhaggitu tana duudii si'ii fi sanyii teetiif hin kenna; isiille haga bara baraa teessan hin teeti.

¹⁶ Ani sanyii teeti akka maansa lafaa hin godha; nami maansa lafaa laakkowuu yoo dande'e, sanyiin teetille laakkowamuu hin dandeetti.

¹⁷ Ani isii waan sii kennuuf, ka'iitii, dheerinna fi badhinna lafaa keessa deemi» jedhe.

¹⁸ Maarre Abraam dunkaana ifii buqqifatee, qilxaa Mamre'ee ka Hebroonitti dhiko'oo bira dhufee qubate. Achille'etti addee ciinca'aa Mootii Waan Maraatiif ijaare.

14

Abraam, Loox Boojuu Jalaa Baase

¹ Bara san mootiin biyya Shiinaarii* Amraafel, mootiin biyya Elaasaarii Aryook, mootiin biyya Elaamii Kador-Laa'omer, mootiin gosa biyya adda addaa Tidaal mootummaa irra jiraniyyu.

² Mootoleen tun mootii Sodoomii Beeraa, mootii Gomora'aa Birishaa, mootii Aadima'aa Shanaab, mootii Zebo'iimii Shemeber, mootii qachaa Bela'aa, ka amma qachaa «Zo'aar» jedhamu loliisaaf dhaqane.

³ Worri loliisaaf yaa'e kun dhooqa siidiimii ta amma «Abbaayaa sooddaa» jedhantu keessatti wolitti gurmaaye.

⁴ Mootoleen tun woggaa kudhanii lamaaf, mooticha Kador-Laa'omeriif tajaajilane, woggaa kudhanii sadeesso'ootitti ammoo finqilaan itti ka'ane.

* 14:1 Shiinaar: Biyya Baabilonii ti.

⁵ Woggaa kudhanii arfeesso'ootitti Kador-Laa'omerii fi mootoleen isa waliin gurmaayane loltoota ifii waliin dhufanee, worra Refaa'iimii addee «Ashitaarot-Karnaayim» jedhantutti, worra Zuziimii addee «Ham» jedhantutti, worra Emiimii addee «Dirree Kiriiyataayim» jedhantutti,

⁶ worra Hooriille gaara Se'iirii[†] irraa haga El-Phaaranii irga goomole'eetitti injifatane.

⁷ Achiin duuba isaan deebi'anee gara En-Miisphaatii ta «Qaadeshi» jedhantuu dhufanee, lafa Amaaleqootaa duudii qabatanee, Amoorota worra Haazezon-Taamaar keessa le'anulle injifatane.

⁸ Achiin duuba mootiin Sodoomii, mootiin gomora'aa, mootiin Aadima'aa, mootiin Zebo'iimii, mootiin Bela'aa ka «Zo'aar» jedhamu, bayanee dhooqa Siidiimii keessatti isaan lolane.

⁹ Isaan mootii biyya Elaamii Kador-Laa'omer waliin, mootii gosa biyya adda addaa waliin, mootii biyya Shiinaarii Amraafel waliin, mootii biyya Elaasaarii Aryook waliin wol lolane; akka kanaan moototi shanan mootota arfan waliin wol lolane.

¹⁰ Dhooqi Siidiimii boolla leyyaa lafa keessaa dhaggamuun guutanteertiyyu; mootiin Sodoomiitii fi Gomora'aa adoo baqatanuu boolla bu'ane; worri hafe ammoo gara gaaraa baqate.

¹¹ Moototi arfan sun worra Sodoomiitii fi Gomora'aa irraa waan isaan qabanu mara, sagalee isaaniille fudhatanee deemane.

¹² Ilmi obboleessa Abraamii Loox, Sodoom keessa le'aa waan tureef, isaan waan inni qabu maraa fi isa booji'anee deemane.

¹³ Namichi miliqee bayeeru tokko ammoo, gara Abraamii Ibraawichaa dhufee waan te'e mara itti hime; yennaa san Abraam qilxoota Mamree Amoorichaa bira le'aayyu; Mamreen obboleessa Eshikoliitii fi Anerii ti. Isaan kun yennaa lolaa Abraam qarqaariisaaf wolii galtee godhataneeran.

¹⁴ Abraam booji'amiisa ilma obboleessa ifii yennaa dhage'e, namoota dhibba sadii fi kudhanii saddeeti worra mana isaatitti dhalatanee lolaaf leenji'ane waamee, worra booji'e san haga Daaniititti hordofe.

¹⁵ Inni halkaniin akka lolanuuf namoota ifii gargar qoqoodde, diinota ifii lolee injifatee, haga Hobaa Damaasqoo irraa gara kaabaa jirtuu ari'ane.

¹⁶ Waan isaan booji'aneeranu mara, ilma obboleessa ifii Loox, waan inni qabu waliin, dubartootaa fi worra booji'ameeru dhibiille deebisee fide.

Malkiisedeq Abraam Eebbise

¹⁷ Abraam Kador-Laa'omerii fi mootota isa waliin jiranu injifatee adoo deebi'iisatti jiruu, mootiin Sodoomii dhooqa Shawwee ta «Dhooqa mooti'ii» jedhantutti isa qophatiisaaf baye.

¹⁸ Mootichi Saalemii Malkiisedeq, hayyicha Waaqa Ol Aana'aa, daabbo'oo fi daadhii woyni'ii Abraamiif fidee,

¹⁹ isa eebbisee,

«Waaqi Ol Aanaan,
ka ol-gubba'aa fi lafa dade,
Abraam eebbisuu ti;

²⁰ Waaqi Ol Aanaan,
ka diinota keeti harka keetitti kenne,
leellifamuu ti!» jedhe.

Abraamille waan booju'uun dhaggate mara irraa kudhan keessa tokko Malkiisedeqiif kenne.

[†] 14:6 Gaara Se'iirii: Gaarri kun gaara Edoomiille hin jedhama.

²¹ Mootichi Sodoomii, Abraamiin, «Waan dhibii mara fudhadhuu, namoota kiyya naa deebis» jedhe.

²² Abraam deebisee, «Mootii Waan Maraa Waaqa Ol Aanaa, ka ol-gubba'aa fi lafa dade duratti hin kakadha;

²³ akka ati, «Anatti Abraam duroonse» hin jenneef, waan keeti keessaa liilana tokko yookiin waan kophe'een hidhatanulle hin fudhadhu.

²⁴ Waan namooti kiyya nyaatane malee, ani womaa hin fudhadhu, worri na woliin dhage Aner, Eshikolii fi Mamreen qooda ifii fudhatanuu ti» jedhe.

15

Gondooroo Waaqi Abraam Woliin Gondoo

¹ Wonni kun teeteen duuba, jechi Mootiin Waan Maraa mudhi'iin gara Abraamii dhufee, «Abraam, hin sodaatin, ani wontee teeti; ani gatii guddoo si'iif hin kenna» jedhe.

² Abraam ammoo, «Ee, Goottaa, Mootii waan maraa, adoo ani uumaa dhabeeruu, gatiin naaf kennitu maan naa gooti? Nami na dhaalu Elii'ezaar nama Damaasqo'oo ti» jedhe.

³ Abraam ammalle, «Kunoo, ati uumaa naaf waan hin kenniniif, garbicha mana kiyya keessatti dhalate tokkotti na dhaalaara» jedhe.

⁴ Achiin duuba jechi Mootii Waan Maraa gara isaa dhufee, «Inni si hin dhaalu, ilma ati ifii uumattutti si dhaala» jedheen.

⁵ Mootiin Waan Maraa alatti isa baasee, «Gara gubba'aa ol ilaaliitii, yoo laakkowuu dandeette, urjoota laakkowi» jedhe. Achiin duuba, inni Abraamiin, «Maarre sanyiin teetille akkasuma hin teeti» jedheen.

⁶ Abraam Mootii Waan Maraatiitti dhugeeffate; dhugeeffannaan isaalle akka balchumma'aatitti isaaf laakkowante.

⁷ Achiin duuba inni, Abraamiin, «Ani Mootiin Waan Maraa biyya tana akka ati dhaaltuuf, Ur lafa kaldootaa keessaa si baase» jedhe.

⁸ Abraam ammoo, «Ee, Goottaa, Mootii Waan Maraa, akka dhaalu attamiin beeka?» jedheen.

⁹ Mootiin Waan Maraa, Abraamiin, «Goronsa woggaa sadii, re'ee dhaltuu woggaa sadii, korbeessa hoole'ee ka woggaa sadii, saphaliisaa fi maddoo naa fidi» jedhe.

¹⁰ Abraam isaan kana mara gara isaa fidee, addee lama lamatti kukkutee, ka kukkutamane san gama tokko gama kaaniin wolitti fuula galchee keye; sinbirroota ammoo hin kukkunne.

¹¹ Yennaa allaattiin reeffa nyaatiisaaf dhutte, Abraam irraa ari'e.

¹² Adoo aduun seeniisatti jirtuu, hirriibi hamaan Abraamitti bu'ee, soda'aa fi dukkanti dimmi isatti dhutte.

¹³ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa, Abraamiin, «Sanyiin teeti biyya or-maa keessatti alagaa te'iisaaf, achille'etti garboota te'iisaaf, woggaa dhibba afur akka cunqurfamu'uuf jiranu beeki!

¹⁴ Ani ammoo gosa biyya isaan garboonfattu san hin adaba; isaan karra guddoo fudhatanee achii hin bayan.

¹⁵ Ati ifiif, dulloontee bara dheeraa leetee, nageyaan duutee, hin awwaalanta.

¹⁶ Yennaan worri Amoorotaa adabamanu haga ammaa waan hin geyiniif, sanyiin teeti haga dhaloota arfeesso'ootitti deebi'anee hin dhufanu» jedhe.

¹⁷ Yennaa aduun seentee dukkanootte, okkoteen ibiddaa ta aartuu fi umeessaan bobbe'u foon gargar kukkutame wodhakkaa dabare.

¹⁸ Gaafas Mootiin Waan Maraa Abraam woliin gondoorroo gondoorate, «Ani lafa tana laga Gibxi'iitii jalqabee haga laga guddicha Efraaxiisiititti sanyii teetiif hin kenna.

¹⁹ Latti tun lafa Qenootaa, lafa Qeniizotaa, lafa Qadimonootaa,

²⁰ Heetotaa, Pheriizotaa, Refaa'otaa,

²¹ Amoorotaa, Kana'aanotaa, Girgaashotaatii fi Yibusootaa ti» jedhe.

16

Aggaarii Fi Ishimaa'el

¹ Niitiin Abraamii Saaraayi, ijoollee isaaf deettee hin jirtuuyyu. Isiin hojjattuu «Aggaar» jedhantu takka qaddi; Aggaar nama biyya Gibxi'ii ti.

² Saaraayille Abraamiin, «Mootiin Waan Maraa ijoollee dewuu akka na dhoogge hin dhaggita; hojjattuu tiyya bira geyi! Karaa isi'iitiin ijoollee hin dhaggadha fa'aa» jette. Abraamille dubbii Saaraayii dhage'e.

³ Niitiin Abraamii Saaraayi hojjattuu ifii Aggaarii nama biyya Gibxi'ii san fiddee, akka niiti'iititti dhirsaa ifitiif kennite; kunille Abraam biyya kana'aanii keessa woggaa kudhan le'een duuba te'e.

⁴ Abraam Aggaar bira geyee, isiille ulfootte; isiin akka ulfootte yennaa dhaggite, giittii ifii irratti mataa dhaadde.*

⁵ Achiin duuba Saaraayi Abraamiin, «Tun balleessaa teeti. Anumattuu isii si'iif kenne; isiin ammoo akka ulfootte beettee, na irratti mataa dhaadde. Ati yookiin ani sirrii akka teene, Mootiin Waan Maraa muruu ti» jette.

⁶ Abraam ammoo Saaraayiin, «Ati giittii hojjattuu teetii ti; akka jaalatte isii godhi» jedhe. Achiin duuba Saaraayi waan isii miicceef, isiille jalaa baqatte.

⁷ Ergamaan Mootii Waan Maraa goomolee keessatti madda bisaanii biratti Aggaar dhagge; maddi bisaanii sun karaa Shuur geessu gubbaa jiraayyu.

⁸ Inni, hojjattuu Saaraayii, Aggaariin, «Eessaa dhutte? Eessa dhaqaarta?» jedheen.

Isiin, «Giittii tiyya Saaraayi jalaa baqatiisatti jira» jette.

⁹ Ergamaan Mootii Waan Maraalle, isi'in, «Gara giittii teetii deebi'iitii, isii tajaajili» jedhe.

¹⁰ Ergamaan Mootii Waan Maraa itti dabalee, «Ani sanyii teeti hin baceessa; bacinna isaaniitiin ka ka'e, eennulle isaan laakkowee hin dande'u.

¹¹ Ati amma ulfootteerta, ilmalle hin deetta; iyya ati miicantee iyyite Mootiin Waan Maraa waan dhage'eef, maqaa isaalle «Ishimaa'el» jetta.

¹² Inni akka harree diidaa hin le'a; inni nama mara hin morma; nami martille isa hin morma. Fira ifii mara irraa adda bayee hin le'a» jedhe.

¹³ Aggaarille, «Ani dhugumaan Mootii Waan Maraa ka na dhaggu dhaggee?» waan jetteef, Mootii Waan Maraa ka isi'itti dubbate san, «El-Ro'i†» jettee waante.

¹⁴ Tanaaf namooti baleessa Qaadeshii fi Baared wodhakkaa jiru, «Be'er-Lahaayi-Ro'i‡» jedhanee waamane.

¹⁵ Aggaar ilma Abraamiif deette; Abraamille ilma ifii ka Aggaar deette, «Ishimaa'el» jedhee maqaa baase.

¹⁶ Aggaar yennaa Ishimaa'el isaaf deette, Abraam nama woggaa saddeet-tamii jaa ti.

* **16:4** Giittii ifii irratti mataa dhaadde: jechuun kun giittii ifii tuffattee jechu'u. † **16:13** El-Ro'i: Afaan Ibrootaatiin Waaqa na dhaggu jechu'u. ‡ **16:14** Be'er-Lahaayi-Ro'i: Afaan Ibrootaatiin Balleessa Waaqa jiraataa na dhagguu jechu'u.

17

Haqanqabaa Beessisa Gondooroo'oo

¹ Abraam nama woggaa sagaltamii sagalii yennaa te'etti, Mootiin Waan Maraa Abraamitti mudhatee, «Ani Waaqa waan mara dande'u; naaf ajajamitii ka komii hin qanne te'i.

² Anille wodhakkaa tiyyaa fi teetitti gondooroo hin gondooraa; sanyii teeti hin baceessa» jedheen.

³ Achiin duuba Abraam fuulaan lafatti gombifame; Waaqille isaan

⁴ «Gondooroo ani si woliin gondooru tana: Ati abbaa gosa biyya adda addaa heddu'uu hin teeta.

⁵ Maqaan keeti haganaa achi, «Abraam» hin jedhamu, ani abbaa gosa biyya adda addaa heddu'uu waan si godhuuf, maqaan keeti, «Abrahaam»^{*} jedhama.

⁶ Ani sanyii hedduu sii hin kenna. Isaan gosa biyya adda addaa hin te'an; isaan keessaa gariin mootota hin te'an.

⁷ «Ani si'iif Waaqa te'ee, si'iin duuballe sanyii teetiif Waaqa te'iisaaf Gondooroo tiyya anaa fi si wodhakka'atti, dhaloota si'iin duuba jiranu, sanyii isaanii wodhakkaalle'etti Gondooroo haga bara baraa godhee, jabeessee hin gondooraa.

⁸ Lafa ati amma alagaa itti teete, lafa Kana'aanotaa mara si'ii fi sanyii teetiif haga bara baraa hin kenna; ani Waaqa isaaniille hin te'a» jedhe.

⁹ Ammalle Waaqi Abrahaamiin, «Atii fi sanyiin teeti, dhalooti si'iin duubaalle gondooroo tiyya eegadha'a.

¹⁰ Gondooroon tiyya ta anaa fi si wodhakka'atti, dhalooti si'iin duubaalle eegatuu qaddanu, «Isin keessaa dhiirti martinuu haqanqabaa qabatanuu ti» ka jedhu.

¹¹ Isin haqanqabaa qabadha'a! Kunille gondooroo anaa fi isin wodhakkaa jirtuuf beessisa hin te'a.

¹² Dhaloota mara keessatti dhiira te'ee mana keeti keessatti ka dhalatu mara, garbicha mana keeti keessatti dhalatu, sanyii teeti keessaa adoo hin te'in ka orma irraa beese'een bitamelle, dhalatee guyyaa saddeetitti haqanqabaa qabamuu ti.

¹³ Garbichi mana keeti keessatti dhalatee fi ka beese'een bitamelle lamaanuu haqanqabaa qabamanuu ti. Gondooroon tiyya ta beessisi isi'ii foon keessan irratti mudhatu gondooroo bara baraa hin teeti.

¹⁴ Dhiirti haqanqabaa hin qabatin marti, gondooroo tiyya waan cassiteef, kolbaa ifii keessaa hin balleeffanti» jedhe.

¹⁵ Waaqi ammalle Abrahaamiin, «Niitii teeti Saaraayi, haganaa achi «Saaraayi» jettee hin waamin; ammaan jalqabee maqaan isi'ii «Saaraa»[†] jedhamuu ti.

¹⁶ Ani isii hin eebbisa; isii irraa ilma si'iif hin kenna. Ani isii hin eebbisa, isiille haadha gosa biyya adda addaa hin teeti; sanyii isi'ii keessaa gariin mootota hin te'an» jedhe.

¹⁷ Achiin duuba Abrahaam fuulaan lafatti gad gombifame; ammoo kollee, «Nami jaarsi woggaa dhibbaa ilma dande'ee uumataa? Saaraan jaartiin woggaa sagaltamaa ilma deettee dandeettii?» ifiin jedhe.

¹⁸ Inni Waaqaan, «Ishimaa'el ilma waadaa ati naaf galte adoo te'ee dansa'aayyu» jedhe.

^{*} **17:5** *Abrahaam: Afaan Ibrootaatiin Abbaa gosa biyya adda addaa heddu'uu jechu'u.* [†] **17:15** *Saaraa: Afaan Ibrootaatiin Giittii jechu'u.*

¹⁹ Waaqi ammoo, «Waawwo'o. Niitiin teeti Saaraan ilma siif hin deetti; maqaa isaalle, «Yisihaq» jettaan. Ani Gondooroo tiyya ta bara baraa isaa fi sanyii isaa ta isa duubaatiif hin gondoora.

²⁰ Marroo Ishimaa'eliitiif waan ati daadimatte si'iif dhage'eera; ani isa eebbisee, ijoollee isaaf kennee, sanyii isaa bacaa hin godha. Inni abbaa sooreyyii gugurdoo kudhanii lamaa hin te'a; gosa guddoolle isa hin godha.

²¹ Ani ammoo Gondooroo tiyya, Yisihaqii Saaraan bara dhufu yennaa tanatti si'iif deettu woliin hin gondoora» jedhe.

²² Waaqi Abrahaam woliin dubbateen duuba isa biraa ol baye.

²³ Gaafasuma Abrahaam ilma ifii Ishimaa'el, tajaajiltoota mana isaa keessatti dhalatane mara, worra beese isaatiin bitamane mara, namoota mana isaa keessa jiranu keessaa dhiira ka te'ane maraayyuu fuudhee, akkuma Waaqi isa ajajetti haqanqabaa qabe.

²⁴ Abrahaam haqanqabaa yennaa qabatu, woggaan isaa sagaltamii sagal.

²⁵ Ilmi Abrahaamii Ishimaa'el yennaa haqanqabaa qabatu, woggaan isaa kudhanii sad.

²⁶ Abrahaamii fi ilmi isaa Ishimaa'el gaafuma tokko haqanqabaa qabatane.

²⁷ Namooti mana isaa keessaa martille, tajaajiltooti mana isaa keessatti dhalatane fi worri orma irraa beese'een bitamanee dhufane, Abrahaam woliin haqanqabaa qabatane.

18

Abrahaamiif Ilmi Waadaa Galame

¹ Abrahaam Saafowa seensuma dunkaana ifii dura tee'eeruun, qilxaa Mamre'ee biratti, Mootiin Waan Maraa isatti mudhate.

² Inni ol ilaalee namooti sadiin isa bira dhaabbataneeranuun dhagge; akkuma isaan dhaggeen, isaan qophatiisaaf seensuma dunkaani'ii duraa gara isaanii rukkisee, lafatti gad gombifamee,

³ tokkochaan, «Goottaa kiyya, ani yoo si duratti fudhatama dhaggadhe tajaajilaa keeti irra hin dabarin.

⁴ Me, bisaan diqqaa isaa isinii fida; miila keessan dhiqadha'aatii, muka kana jalatti foorfadha'a.

⁵ Gara mana ana tajaajilaa keessanii eega dhuttanee, dadhabbii akka baatanuuf, daabboo diqqoo takka isinii fida; achiin duuba dabaru hin dandeettan» jedhe; isaan deebisane, «Akkuma jette san godhi» jedhane.

⁶ Abrahaam ariifatee gara Saara'aa dunkaana keessa dhagee, «Dafiitii, bullaa dansittii meya itti safaranu sad, sukkuumii, bilcheessi» jedheen.

⁷ Achiin duuba Abrahaam gara tikaa rukkisee, jabbilee bobbosoqqee keessaa tokkocha fuudhee, tajaajilaa dafee qalee qopheessu tokkotti kenne.

⁸ Achiin duuba inni itittuu, aananii fi foon qophowe san geessee, isaanii dhikeesse; yennaa isaan nyaatanu, Abrahaam muka jala isaan bira dhaabbateeraayyu.

⁹ Yennaa san isaan, «Niitiin teeti Saaraan eessa jirti?» jedhaneen.

Inni, «As dunkaana keessa jirti» jedheen.

¹⁰ Isaan keessaa tokkochi, «Bara dhufu yennaa akkanaa tana deebi'ee gara keeti hin dhufa; yennaa san Saaraan niitiin teetii ilma hin deetti» jedhe.

Yennaa inni tana dubbatu Saaraan balbala dunkaani'ii ta Abrahaamiin duuba jirtu dura dhaabbattee dhage'iisatti jirtiyyu.

¹¹ Abrahaamii fi Saaraan guddoo dulloomaneeaniyyu; Saaraalle aadaan dubarti'ii irraa dhaabbatteertiyyu.

¹² Maarre saaraan, gadhaa ifii keessatti «Ani eega dulloomee gergeshe, dhirsi kiyyalle dulloomee gergeshe, ani isa bira geyiisaaf halcha'aayyuu hin qabaadhaa?» jettee kollite.

¹³ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa, Abrahaamiin, «Maaf Saaraan, «Ani dulloomee gergesheen duuba, ani dhugumaan deyiisa hin dande'aa?» jette.

¹⁴ Wonni Mootiin Waan Maraa dadhabu ijumaayyuu hin jirtii? Bara dhufu yennaa akkanaa tana ani deebi'ee gara keeti hin dhufa; akkuma sitti hime Saaraan yennaa san ilma hin deetti» jedhe.

¹⁵ Saaraan guddoo waan sodaattee, «Ani hin kolline» jettee mormatte.

Inni ammoo, «Dhuguma, kolliteerta» jedhe.

Abrahaam Sodoomiif Daadimate

¹⁶ Namooti sadiin sun yennaa achii ka'ane, gara Sodoomii ilaalane; Abraamille geegessiisaaf isaan woliin baye.

¹⁷ Mootiin Waan Maraa, «Ani waan godhu'uu jiru Abrahaam hin dhossu.

¹⁸ Abrahaam gosa guddoo fi hunnaamettii hin te'a; gosi lafa irra jirtu marti karaa isaatiin hin eebbifanti.

¹⁹ Balchumma'aa fi haqa hujiisaan karaa Mootii Waan Maraa akka eegatanu, ijoollee ifitii fi worra mana ifii gorsiisaan akka soressu ani isa filadheera; ijoolleen isaa waan kana yoo goote, anille waadaa isaaf gale duudii hin muummessa» jedhe.

²⁰ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa, «Iyyannoon worra Sodoomiitii fi Gomora'aa irratti dhikaatte attam attam guddoo! Cubbuun isaaniille akka malee guddoo!»

²¹ Ani gad bu'ee wonni isaan hujane martinuu akka iyyannoo gara kiyya dhikaatte sanii te'uu isi'ii hin ilaala» jedhe.

²² Achiin duuba namooti lamaan gara Sodoomii deemiisa ka'ane; Mootiin Waan Maraa ammoo Abrahaam woliin hafe.

²³ Yennaa san Abrahaam gara Mootii Waan Maraa dhikaatee, «Ati dhugumaan balchoota dabaaleyyii woliin lafa irraa balleessaartaa?

²⁴ Namooti balchooti shantam qachaa san keessa yoo jiraatane, qachaa duudii hin balleessitaa? Namoota balchoota shantama achi keessa le'anuu jettee hin lakkittuu?

²⁵ Ati dhugumaan balchoota dabaaleyyii woliin hin ijeettu; ati tana hin gootu; yoo tana goote namooti balchooti dabaaleyyii woliin hin adabaman; tun ijumaa hin teetu. Ka biyya lafaa duudi'itti muru, sirri'itti muruu hin qabuu ree?» jedhe.

²⁶ Mootiin Waan Maraa deebisee, «Ani namoota balchoota shantama qachaa Sodoomii keessatti yoo dhagge, ani isaaniif jedhee qachaa san duudii hin fayyisa» jedhe.

²⁷ Abrahaam deebisee, «Ani nama woy hin baane buku'uu fi daadha'a; Gootaa kiyya sodaa malee waan sitti dubbadheef, maganne'ee naaf araaram.

²⁸ Balchoota shantama keessaa shanan hin dhidhatan fa'a; sababa shanan dhidhatanee qachaa duudii hin balleessitaa?» jedhe.

Mootiin Waan Maraa deebisee, «Ani balchoota afurtamii shan achitti yoo dhagge, ani qachaa san duudii hin balleessu» jedhe.

²⁹ Abrahaam ammalle isaan, «Balchoota afurtama qofa achitti yoo dhaggite hoo?» jedhe.

Inni deebisee, «Balchoota afurtama yoo dhagge hin balleessu» jedhe.

³⁰ Achiin duuba Abrahaam, «Mootii waan maraa, ammalle deebi'ee yoo dubbadhe hin aarin. Balchoota soddoma qofa qachaa san keessatti yoo dhaggite hoo?» jedhe.

Inni deebisee, «Ani balchoota soddoma qachaa san keessatti yoo dhagge, qachaa san hin balleessu» jedhe.

³¹ Abrahaamille, «Mootii waan maraa, sodaa malee waan sitti dubbadheef, maganne'ee naaf araaram. Balchooti diddam qofa achitti yoo dhaggamane hoo?» jedhe.

Inni deebisee, «Ani balchoota diddama saniif jedhee, qachaa san hin balleessu» jedhe.

³² Achiin duuba Abrahaam, «Mootii waan maraa, takkattii tana qofa dubbadha, maganne'ee natti hin aarin. Balchooti kudhan qofa achitti yoo dhaggame hoo?» jedhe.

Inni deebisee, «Ani balchoota kudhan yoo achitti dhagge, qachaa san hin balleessu» jedhe.

³³ Mootiin Waan Maraa Abrahaam woliin dubbatee fixateen duuba deeme; Abrahaamille gara addee ifii deebi'e.

19

Cubbuu Qachaa Sodoomii

¹ Ergantooti Waaqaa lamaan galgaluma san gara Sodoomii dhutte; Yennaa san Loox karra qacha'aa bira tee'eeraayyu. Inni yennaa isaan dhagge, isaan qophatiisaaf itti dhaqee lafatti gad gombifamee,

² «Goottota tiyya, maganne'ee, gara mana tajaajilaa keessanii kowa'a. Miila keessan dhiqa'aatii bula'a; barii ganama deemuu dandeettan» jedhe.

Isaan ammoo, «Waawwo'o; nuuti asuma badhinna qacha'aa bulla» jedhane.

³ Inni ammoo jabeessee isaan waan kadhateef, isa woliin gara mana isaa dhaqane. Loox daabboo bilcheessanee, sagalee galgalaa dansaa akka isaaniif qopheessanu tajaajiltoota ifii ajaje. Yennaa sagaleen qophootte isaan nyaatane.

⁴ Isaan adoo hin rafiniin dura, namooti qachaa Sodoomii, dargaggeeyyi'ii fi jaarsoleen dhiirti qachaa sanii marti mana san marsane.

⁵ Isaan Loox waamanee, «Namooti galgala kana gara keeti buliisaaf dhu-fane meet? Akka isaan bukkoonsinu gad nutti baasi» jedhane.

⁶ Loox gara isaanii gad bayee, balbala ifi duubaan cufatee,

⁷ «Maganne'ee Obboleeyyan tiyya, waan daba akkasii hin hujina'a!

⁸ Kunoo, ani durra lamaan ta dhiirti ijumaa bira hin geyin qaba; isaan gad isiniif baasaa akka feetane godha'a. Namoota kana waan tokkolle hin godhina'a; isaan keessummoota tiyya waan te'aneef, ani isaan eeguu qaba» jedhe.

⁹ Isaan ammoo deebisane, «Namicha alagaa kana, asii badi! Waan nuuti goonu ka nutti hintu, ati eennuu? Hantuu namoota san irratti goonu caalaa hin goona» jedhane. Isaan Loox duubatti darbanee, balbala cassiisaaf bira geyane.

¹⁰ Namooti keessummooti sun ammoo harka ifii gad baafatane, Loox gara manaa ol seensisane, balbala cufane.

¹¹ Achiin duuba isaan worra balbala manaa duraa san diqqa'aa haga gudda'aatitti ila sipheessanee, isaan balbala dhagguu dadhabane.

Loox Sodoomii Baye

¹² Achiin duuba worri keessummootaa sun Looxiin, «Qachaa kana keessaa ilmaanii fi ijoollee durraa, worra durra teeti kadhateeru yookiin fira dhibii yoo qabaatte as keessaa baasi.

¹³ Nuuti addee tana balleessaarra; iyyati worra addee tanaa irratti gara Mootii Waan Maraa dhikaate guddaa waan te'eef, Mootiin Waan Maraa qachaa kana akka balleessinuuf nu ergeera» jedhane.

¹⁴ Achiin duuba Loox gara worra durra isaa kadhateeruu dhagee, «Ariifadha'a, addee tana keessaa baya'a; Mootiin Waan Maraa addee tana waan balleessaaruuf qachaa kana keessaa baya'a» jedheen. Worri durra isaa kadhateeru ammoo waan taphatu itti fakkaatte.

¹⁵ Boruuyyaa barii ganama ergantooti Waaqaa sun Looxiin, «Ariifadhuu, qachaan kun yennaa badu woliin akka hin banneef, niitii teeti, ijoollee teeti ta durraa lamaan fudhadhuutii addee tanaa bayi» jedhanee Loox ariifachiisane.

¹⁶ Loox ammoo mame; te'ulle Mootiin Waan Maraa waan isa marareef, namooti lamaan sun isa, niitii isaa, ijoollee isaa ta durraa lamaan harka qabane qachaa keessaa akka baasanu godhe.

¹⁷ Qachaa keessaa isaan baasaneen duuba, ergamaa Waaqaa keessaa tokkochi, «Jiruu teessan hamburatiisaaf baqadha'a; ifiin duuba hin ilaalina'a! Dhooqa keessatti eessalle'etti hin dhaabbatina'a! Akka hin duuneef gara gaaraa baqadha'a!» jedhe.

¹⁸ Loox ammoo deebisee, «Waawwo'o, Goottota tiyya;

¹⁹ ani tajaajilaan keessan isin duratti fudhatama dhaggadheera; jiruu tiyyalle fayyisiisaaf arjummaa guddoo naaf gootaneertan. Ani ammoo gara gaaraa baqadhee jalaa bayuu waan hin dandeenneef, badiin tun kara'atti na dhaqqaddee, ani hin du'a.

²⁰ Kunoo, qachaan sun itti baqatiisaaf dhikoo jira, qachaa diqqaalle'e. Akkuma isin dhaggitanu qachaa diqqa'aa motii ree? Ani achitti baqadhee jiruun tiyya akka fayyitu naaf godhi» jedheen.

²¹ Ergamaan Waaqaa deebisee, «Tole, akkuma ati jette teetu; qachaa jette sanille hin balleessu.

²² Haga ati achi geettutti, ani womaa godhee waan hin dandeenneef, ariifadhuu, achi baqadhu» jedheen.

Qachaan sun diqqaa waan te'eef, maqaan isaa, «Zo'aar*» jedhame.

Badii Sodoomii Fi Gomora'aa

²³ Yennaa Loox Zo'aar gewu, aduun bayiisatti jirtiyyu.

²⁴ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa dhakaa bobe'uu fi ibidda qachoota Sodoomii fi Gomora'aa irratti ol-gubbaa irraa akka gad roobu godhe.

²⁵ Inni qachoota san, dhooqa san mara, namoota qachaa san keessaa maraa fi waan lafa san irratti lateeru mara balleesse.

²⁶ Niitiin Looxii ammoo, gara duubaa ilaaltee, soodduu sooddaa teete.

²⁷ Abrahaam boruuyyaa barii ganama ka'ee, addee dur Mootii Waan Maraa dura dhaabbate dhage.

²⁸ Inni gara qachaa Sodoomiitii fi Gomora'aa, gara dhooqa Yordaanosii duudii gad ilaalee, aarri akka aara barbada ibiddaa ol ka'uun dhagge.

²⁹ Waaqi ammoo yennaa qachoota dhooqa Yordaanosii addee Loox le'aa ture balleesse, Abrahaam yaadatee, Loox badii hantuu san jalaa fayyise.

Mo'aabotaa Fi Amoonota

³⁰ Loox Zo'aar keessa le'uu waan sodaateef, ijoollee durraa ta ifii lamaan fudhatee, gaaratti ol bayee goda keessa le'e.

³¹ Gaafa tokko intalti isaa angafittiin maandhitti'in, «Abbaan keenna dulloomaara; akka ijoollee qabaannu, nami nu fuudhu tokkolle biyya tana hin jiru.

* **19:22** Zo'aar: Afaan Ibrootaatiin *Diqqaa* jechu'u.

³² Koy, abbaa keenna daadhii woyni'ii obaannee macheessinee, isa irraa sanyii lafa irratti hattu akka dhaggannu, isa woliin rannaa» jette.

³³ Galgala san isaan abbaa ifii daadhii woyni'ii obaasaneen macheessanee, intalti angafittiin ol seentee abbaa ifii woliin ratte; inni yennaa isiin seentee ratte yookiin yennaa isiin kaatelle hin beenne.

³⁴ Guyyaa lammeesso'oo, intalti angafittiin intala maandhitti'in, «Kunoo, ani eda abbaa kiyya woliin rafeera; galgala adhaalle daadhii woyni'ii isa obaannee macheessinuu ti; abbaa keenna irraa sanyii lafa irratti hattu akka dhaggannu, atille seeniitii isa woliin rafi» jette.

³⁵ Isaan galgala sanille abbaa ifii daadhii woyni'ii obaasaneen macheessane; intalti maandhittiille kaatee, isa woliin ratte; inni yennaa isiin seente yookiin yennaa isiin kaatelle hin beenne.

³⁶ Akka kanaan ijoolleen durraa ta Looxii lamaanuu abbaa ifitiif ulfootte.

³⁷ Intalti angafittiin ilma deetee, maqaa isaa, «Mo'aab[†]» jettee baafatte; inni abbaa sanyii Mo'aabota ammaa ti.

³⁸ Intalti maandhittiille ilma deetee, maqaa isaa, «Ben-Amii[‡]» jettee baafatte; inni abbaa sanyii Amoonota ammaa ti.

20

Abrahaamii Fi Abiilek

¹ Abrahaam lafa le'aa ture Mamre'ee ka'ee, Qaadeshii fi Shuur wodhakkaa qubate. Qachaa Geraarii keessa alagaa te'ee yennaa le'e,

² Abrahaam niitii ifii Saaraa, «Isiin Obboleettii tiyya» jedhe. Abiimelekiin mootiin Geraarii tana dhage'ee, itti ergee Saaraa fudhate.

³ Waaqi ammoo halkan oojju'uun gara Abiimelekii dhufee, «Ati sababa dubartii dhirsaa qaddu fudhatteef, ati du'aarta» jedheen.

⁴ Abiimelek ammoo isii bira geyee hin jiruuyyu; maarre inni, «Gootaa kiyya, ani dhugumaan yakkaa hujee hin jiru! Anaa fi kolbaa tiyya hin balleessitaa?

⁵ Abrahaamittuu, anaan, «Isiin obboleettii tiyya», isi'ittuu, anaan, «Inni obboleessa kiyya» hin jennee? Ani wodanaa qulqullu'uun waan kana godheera; ani yakkaa hin qabu» jedhe.

⁶ Achiin duuba Waaqi, oojju'uun deebisee, «Ee, akka ati wodanaa qulqullu'uun waan kana goote beekeera; tanaaf isii bira geettee akka ati na hin yakkine ka si dhoogge ana.

⁷ Amma ammoo niitii namichaa isaaf deebisi. Inni raagaa waan te'eef, akka ati hin duune, si'iif hin daadimata. Yoo isii hin deebisin ammoo, dhugumaan atii fi kolbaan teeti duudiille akka duutanu beeki» jedheen.

⁸ Maarre Abiimelek barrii ganamaan ka'ee, qondaaltota ifii mara wolitti waamee, waan kana mara isaanitti hime; isaanille guddoo sodaatane.

⁹ Achiin duuba Abiimelek Abrahaam waamee, «Ati maaf akkas nu goote? Ani maan si yakkinaan anaa fi mootummaa tiyya irratti cubbuu guddoo akkasii fidde? Ati waan hujamu'uuf hin malle na irratti hujje» jedheen.

¹⁰ Ammalle Abiimelek, Abrahaamiin, «Ati maan yaaddee, waan kana goote?» jedhe.

¹¹ Abrahaam deebisee, «Addee tana keessa nami Waaqa sodaatu ijjumaa hin jiru; isaan niitii tiyyaaf jedhanee na ijjeesan jedhee waan yaadeef tana godhe.

[†] 19:37 Mo'aab: Afaan Ibrootaatiin ka Abbaa Kiyya Irraa Dhalate jechu'u. [‡] 19:38 Ben-Amii: Afaan Ibrootaatiin ilma gosa tiyyaa jechu'u.

¹² Karaa tokkoon, isiin dhugumaan obboleettii tiyya. Haati tiyya hin deenne malee, isiin intala abbaa kiyyaa ti; anille isii fuudhe.

¹³ Yennaa Waaqi akka ani mana abbaa kiyyaatii bayee gara lafa ormaa akka ideemuu na tolche, ani isi'iin, addee dhandhe maratti, «Inni obboleessa kiyya» jedhiisaan waan dansaa naaf godhi» jedheeraayyu.

¹⁴ Achiin duuba Abiimelek hoolota, loon, tajaajiltoota dhiiraatii fi dubartootaa fuudhee Abrahaamiif kenne; niitii isaa Saaraalle isaaf deebisee,

¹⁵ «Kunoo, latti tiyya duudiin si dura jirti; addee jaalatte qubadhu» jedheen.

¹⁶ Saaraalle'een, «Kunoo, fuula worra si woliin jiruu mara duratti akka ati yakkaa hin qanne mirkaneessiisaaf, obboleessa keetiif meetii kuma tokko kenneera» jedhe.

¹⁷ Achiin duuba Abrahaam Waaqa daadimate; Waaqille Abiimelekii fi niitii isaa, tajaajiltoota isaa worra dubartootaalle fayyisee, akka isaan ijoollee deyanu godhe.

¹⁸ Sababa Saaraa niitii Abrahaamiitiif, Mootiin Waan Maraa gadaamessa dubartoota mana Abiimelekii keessaa mara cufeeraayyu.

21

Dhalatiisa Yisihaqii

¹ Mootiin Waan Maraa akkuma jedhe Saaraa yaadatee, waadaa gale isi'iif muummesse.

² Dullummaa Abrahaamii keessa, yennaa Waaqi isatti dubbatetti, Saaraan ulfoottee ilma isaaf deette.

³ Abrahaam ilma Saaraan isaaf deette san, «Yisihaq» jedhee maqaa baase.

⁴ Ilmi isaa Yisihaq dhalatee guyyaa saddeetesso'ootitti, akkuma Waaqi ajajetti, Abrahaam haqanqabaa isa qabe.

⁵ Yennaa Yisihaq dhalate, Abrahaam nama woggaa dhibbaa ti.

⁶ Saaraan, «Waaqi gammadaa fi kolla naaf fideera; nami waan kana dhage'e marti na woliin hin kolla» jette.

⁷ Saaraan itti dabaltee, ««Saaraan Abrahaamiif ijoollee deettee hin hoositti fa'a» eentu jedheera? Ani ammoo bara dullummaa isaa keessa ilma deyeef» jette.

⁸ Mucaan guddatee, harma irraa gu'e; Abrahaam guyyaa Yisihaq harma irraa gu'e, jila guddoo godhe.

Aggaarii Fi Ishimaa'el Ari'amane

⁹ Saaraan ammoo, ilgi Aggaarii Gibxittii sanii, ka isiin Abrahaamiif deette, ilma isi'ii Yisihaq woliin taphatuun dhaggite.

¹⁰ Maarre Saaraan, Abrahaamiin, «Ilmi garbittii tanaa, ilma kiyya Yisihaq woliin dhaaluu waan hin malleef, garbittii tana ilma isi'ii woliin ari'i» jette.

¹¹ Ishimaa'elille ilmuma isaa waan te'eef, dubbiin tun guddoo Abrahaam rakkite.

¹² Waaqi ammoo Abrahaamiin, «Marroo muca'aatii fi dubartii garbittii teetiitiif hin rakkatin; karaa Yisihaqiitiin sanyii ani waadaa sii gale waan qabaattuuf, waan Saaraan siin jettu mara godhi.

¹³ Ilmi garbitti'iille ilmuma keetii waan te'eef, ani gosa guddoo isa hin godha» jedhe.

¹⁴ Abrahaam boruuyyaa barrii ganama ka'ee, daabbo'oo fi bisaan qalqallu'utti guutee dudda isi'iititti ba'achiisee, mucaalle kenneefii ari'e. Isiin achii baatee goomolee Bersheeba'aa keessa joonjite.

¹⁵ Yennaa bisaan qalqalluu keessaa sun dhumate, Aggaar mucaa tusee takka jalatti lakkittee,

¹⁶ haga darbata laaye'ee irraa fagaattee teettee, «Yennaa mucaan kiyya du'u, tee'ee hin ilaalu» jette. Adduma teette sanitti iyyitee bowiisa jalqadde.

¹⁷ Waaqille iyya bowiisa muca'aa dhage'e; ergamaan Waaqaalle ol-gubba'aa Aggaar waamee, «Aggaar, maanti si rakkise? Hin sodaatin. Waaqi iyya bowiisa muca'aa dhage'eera.

¹⁸ Ani gosa guddoo waan isa godhuuf, ka'ii mucaa habbaariitii, harka keetille'een jabeessii isa qabi» jedheen.

¹⁹ Achiin duuba Waaqi ila isi'ii banee boolla bisaanii dhaggite. Isiin dhaxxee, bisaan qalqallu'utti guuttee, mucaa ifille obaatte.

²⁰ Akkuma mucaan guddataa deemeen Waaqi isa woliin jiraayyu; inni goomolee keessa le'ee, nama adhii guube'eetiin beekkame te'e.

²¹ Inni goomolee Phaaraanii keessa le'e; haati isaalle durra worra Gibxi'ii isa fuusifatte.

Abrahaamii Fi Abiimelek Wolii Galtee Godhatane.

²² Yennaa san Abiimelek, ajajaa loltuu ifii Fikool woliin dhaqee, Abrahaamiin, «Waaqi waan ati hujju maraan si woliin jira.

²³ Anaa fi ijoollee tiyya yookiin sanyii tiyya akka hin sonne, akkuma ani si'iif addatame, atille anaa fi lafa alagaa teetee leetuuf addatamummaa akka mudhittu, amma asitti maqaa Waaqaatiin naa kakadhu» jedhe.

²⁴ Abrahaamille, «Tole, hin kakadha» jedhe.

²⁵ Abrahaam marroo boolla bisaanii ta tajaajiltooti Abiimelekii fudhat-teertuu Abiimelekitti iyyate;

²⁶ Abiimelekille, «Kana ka godhe eennu akka te'e ani hin beeku; ati natti hin hinne; haga adhaalle ani hin dhageenne» jedhe.

²⁷ Achiin duuba Abrahaam hoolotaa fi loon fuudhee Abiimelekiif kennee, isaan lamaanuu wol gondooraane.

²⁸ Abrahaam goromee hoole'ee torba tika san irraa fowe.

²⁹ Abiimelekille, Abrahaamiin, «Goromee hoole'ee torba tana ati maaf foote?» jedhe.

³⁰ Abrahaam deebisee, «Akka ani boolla bisaanii tana qote dhugaa akka naaf baatu, goromee hoole'ee torba tana na irraa fudhadhu» jedhe.

³¹ Tanaaf isaan lamaanuu achitti waan woli kakataneef, addeen sun, «Bersheebaa*» jedhante.

³² Abrahaamii fi Abiimelek Bersheeba'atti wol gondooraaneen duuba, Abiimelekii fi ajajaan loltootaa Fikool, ka'ane gara lafa Filisxeemotaa deebi'ane.

³³ Achiin duuba Abrahaam Bersheeba'atti muka «Tamariiski» jedhamu tokko dhaabee, maqaa Mootii Waan Maraa Waaqa bara baraa waammate.

³⁴ Abrahaam biyya Filisxeemotaa keessa alagaa te'ee yennaa hedduu le'e.

22

Abrahaam Haga Ilaallatame

¹ Wonni kun teeten duuba, Waaqi Abrahaam haga ilaale. Inni, «Abrahaam!» jedhee waame. Abrahaamille, «Kunoo as jira» jedhe.

² Achiin duuba Waaqi, «Ilma keeti tokkochuma jaalattu san Yisihaq fuudhiitii, lafa Moriiya'aa dhaqi! Gaara ani sitti mudhisu tokko irratti ciincaa godhii isa naaf dhikeessi» jedhe.

³ Maarre Abrahaam boruuyyaa barii ganamaan ka'ee, qoraan ciincaa ittiin ciinnessu caffatee, harree ifii fe'atee, ilma ifii Yisihaqii fi tajaajiltoota ifii ta

* **21:31 Bersheebaa:** Afaan Ibrootaatiin Boolla bisaan kaku'uu jechu'u.

dhiiraa dargaggeeyyii lamaan fudhatee, lafa Waaqi isatti hime dhaqiisaaf kara'atti baye.

⁴ Guyyaa sadeesso'oo Abrahaam ol ilaalee addee san fago'otti dhagge.

⁵ Achiin duuba Abrahaam tajaajiltoota dargaggeeyyii ifitiin, «Isin harree woliin as tura'a; anii fi mucaan kiyya achi dhandhee, Waaqa waaqonfannee gara keessan hin deebina» jedhe.

⁶ Abrahaam qoraan ciincaan ittiin ciinceffamu fuudhee ilma ifii Yisihaqitti ba'achiisee, ifiif ibiddaa fi billowa qabate. Maarre isaan lamaanuu woliin ideemane.

⁷ Yisihaq abbaa ifii Abrahaamiin, «Abbaa!» jedhe; innille, «Ilma kiyya, maan?» jedhe. Yisihaqille, «ibiddii fi qoraan kunoo ti; ammoo hooleen ciincaa ciincessinu meet ree?» jedhe.

⁸ Abrahaam deebisee, «Ilma kiyya, Waaqinu hoolee ciincaa ciincessinu hin qopheessa» jedhe. Isaan lamaanuu woliin deemiisa itti fufane.

⁹ Isaan addee Waaqi isatti mudhise san yennaa geyane, Abrahaam addee ciincaa itti ciincessanu achitti ijaaree, qoraan miidhassee irra naqee, ilma ifii Yisihaq hidhee, qoraan gubbaa irkise.

¹⁰ Achiin duuba Abrahaam ilma ifii qaliisaaf, billowa fudhatee harka diriirfate.

¹¹ Ergamaan Mootii Waan Maraa ammoo ol-gubbaa irraa, «Abrahaam, Abrahaam!» jedhee isaa waame. Abrahaamille, «Kunoo as jira» jedhe.

¹² Ergamaan Mootii Waan Maraalle, «Mucaa hin tuqin yookiin waan tokkolle isa hin godhin; ati ilma keeti tokkochuma san waan naaf hin mararfatiiniif, ani akka ati Waaqa sodaattu beekeera» jedhe.

¹³ Abrahaamille adaala ifii ilaalee, korbeessa hoole'ee ka gaafi isaa hax-anxari'iin qabameeru tokko dhagge. Inni dhaqee korbeessa fuudhee, addee ilma ifii ciincaa dhikeesse.

¹⁴ Maarre Abrahaam addee san, «Yaahwee yir'ee*» jedhee moggaase; ad-halle namooti, «Mootiin Waan Maraa gaara irratti hin qopheessa» jedhan.

¹⁵ Ergamaan Mootii Waan Maraa ol-gubbaa irraa yennaa lammeesso'oo Abrahaam waamee,

¹⁶ «Mootiin Waan Maraa, «Ati kana waan gooteef, ilma keeti tokkochuma sanille naaf waan hin mararfatiiniif, ani maqaa kiyyaan kakadheera;

¹⁷ ani dhugumaan si hin eebbisa; sanyii teeti akka urjoota ol-gubba'aatii fi akka maansa abbaaya'aa hin baceessa. Isaan qachoota diinota ifii hin qabatan.

¹⁸ Ati waan naaf ajajanteef, sanyii teetiin gosi biyya adda addaa marti hin eebbifaman» jedheera» jedhe.

¹⁹ Achiin duuba Abrahaam gara tajaajiltoota dargaggeeyyii ifii ta dhiiraa deebi'ee, isaan woliin ka'ee gara qachaa Bersheeba'aa deebi'anee achi le'e.

Sanyii Naahorii

²⁰ Wonni kun teeteen duuba, Abrahaam obboleessa isaa Naahoriif, Miilkaan ijoollee akka deette dhage'e; isaanille

²¹ angafichi Uz, obboleessi isaa Buus, Qamu'elii abbaa Aaramii,

²² Kesed, Hazoo, Fiildaashi, Yiidlaafii fi Butu'el.

²³ Butu'el Ribqaa uumate; isaan kana saddeeti, Miilkaan Naahorii obboleessa Abrahaamiitiif deette.

²⁴ Gursumeettiin ta «Ri'umaan» jedhantulle Xebaa, Gaaham, Tahashii fi Ma'akaa Naahoriif deette.

* **22:14** Yir'ee: Afaan Ibrootaatiin Waaqi hin qopheessa jechu'u.

23

Du'aa Saara'aa

- ¹ Saaraan woggaa dhibba tokkoo fi diddamii torba leete.
- ² Isiin kiriiyat-Arbaa ta «Hebroon» jedhantu, lafa Kana'aanii keessatti duute; Abrahaam isi'iif guddoo gaddee bowe.
- ³ Abrahaam reeffa biraa ka'ee, worra Heetotaatiin,
- ⁴ «Ani orma alagaa odduu teessan le'iisatti jiru; reeffa niitii tiyyaa akka itti awwaaladhu, addee awwaalaa naaf gurgura'a» jedhe.
- ⁵ Isaan deebisane, Abrahaamiin,
- ⁶ «Goota'a, me nu dhage'i; ati nu oddu'utti sooressa gudda'a. Reeffa niitii teetii addee awwaalaa ta nuuti qannu keessaa ta caaltutti awwaaladhu. Nu keessaa nami tokkooyyuu lafa reeffa niitii teetii itti awwaalatu, ka si dhooggu hin jiru» jedhane.
- ⁷ Achiin duuba Abrahaam lafaa ka'ee, kolbaa biyya sanii, worra Heetotaatiif gad jedhee,
- ⁸ isaaniin, «Ani reeffa niitii tiyyaa akka awwaaladhuuf fedhii teessan eega teete, Efron ilma Zohaarii
- ⁹ lafa isaa irraa goda Makfela'aa ta irga fichaa isaa akka naa gurguru gaafadha'a. Inni gatii guutu'uun lafa awwaalaa, addee isin jirtanutti naa gurguruu ti» jedhe.
- ¹⁰ Efroninuu addee wolgeyi'ii karra qacha'aa bira worra Heetotaa dhibii waliin tee'eeraayyu. Efroniin nama biyya Heetii kunille, Heetoti, worri achi jiranu marti adoo dhage'anuu, Abrahaamiin,
- ¹¹ «Waawwo'o, gootaa kiyya, na dhage'i. Ani ficha'aa fi goda fichaa keessaalle kolbaan tiyya duratti si'iif kenna. Reeffa niitii teetii itti awwaaladhu» jedhe.
- ¹² Abrahaam ammoo kolbaa lafa sanii duratti gad jedhee,
- ¹³ isaan marti adoo dhage'anuu, Efroniin, «Yoo fedhii teeti teetee, na dhageette, ani gatii ficha'aa hin kenna, anarraa fudhadhu; anille reeffa niitii tiyyaa achitti awwaaladha» jedhe.
- ¹⁴ Efron deebisee, Abrahaamiin,
- ¹⁵ «Gootaa kiyya, na dhage'i; cittuun lafaa ta meetii dhibba afurii baattu si'ii fi ana oddu'utti maan isiin? Reeffa niitii teetii itti awwaaladhu» jedhe.
- ¹⁶ Abrahaamille dubbii Efronii fudhatee, haguma Efron adoo worri Heetota dhage'uu dubbate san, meetii dhibba afurii akkuma madaallii daldaltootaatitti madaalee kenneef.
- ¹⁷ Akka kanaan latti Efronii ta Makfelaa keessaa, ta Mamree irraa gara aduun baatu jirtu, fichaan sun goda isa keessa jirtuu fi mukoota irra jiranu mara waliin dabarfamee
- ¹⁸ addee worri Heetotaa duudiin karra qachaa sanii keessatti wolitti qabamane duratti qabeenna Abrahaamiif te'e.
- ¹⁹ Achiin duuba, Abrahaam reeffa niitii ifii Saara'aa goda fichaa Makfelaa keessaa, ta Mamree irraa gara aduun baatu jirtu, lafa Kana'aanii Hebroon keessatti awwaale.
- ²⁰ Maarre ficha'aa fi godi fichaa keessa jirtu, ta worra Heetotaa, lafa awwaalaa, qabeenna Abrahaamii teete.

24

Yisihaii Fi Ribqaa

- ¹ Yennaa san Abrahaam guddoo dulloomeeraayyu; Mootiin Waan Maraalle waan maraan isa eebbiseera.

² Abrahaam namoota mana isaa keessaa tajaajilaa ifii ka irra caalaa jaarsichaa, ka waan inni qabu mara irratti baalli qabuun, «Kakatiisaaf harka keetiin gudeeda kiyya qabadhu.»*

³ Ati dubartoota worra Kana'aanii worra ani odduu isaanii le'u kana keessaa, ilma kiyya akka hin fuusinneef, Mootii Waan Maraa Waaqa ol-gubba'aa fi lafaatiin si kakachiisa!

⁴ Ammoo gara biyya tiyyaatii fi gosa tiyyaa deemiitii ilma kiyya Yisihaqiif niitii barbaadii fidi» jedhe.

⁵ Ammoo tajaajilaan sun, Abrahaamiin, «Intalti na faana biyya tana dhufuu hin barbaaddu fa'a te'a; yoos ilma keeti lafa ati keessaa dhuttetti deebisuu?» jedhee gaafate.

⁶ Abrahaam deebisee, «Waawwo'o, ilma kiyya akka achi hin geessine ifi eeggadhu!

⁷ Mootiin Waan Maraa Waaqi ol-gubba'aa, ka mana abbaa kiyyaatii fi lafa itti dhaladhe keessaa na baasee, «Lafa tana sanyii teetiif hin kenna» jedhee natti dubbatee naaf kakate, inni ergamaa ifii si'iin dura hin erga; atille niitii ilma kiyyaaf achii barbaaddee hin fidda.

⁸ Intalti si faana dhufiisa yoo hin fedhin ammoo, ilma kiyya achi hin geessin malee, ati kakuu tana irraa bilisa» jedhe.

⁹ Maarre tajaajilaan sun harka ifitiin gudeeda Abrahaamii gootaa ifii qabatee, waan Abrahaam isa gaafate san godhiisaaf kakate.

¹⁰ Achiin duuba tajaajilaan sun gaalota gootaa ifii keessaa kudhan fuudhee, kennansa dadansaa gootaa ifii itti fe'ee, gara qachaa Naahor keessa le'uu, Aaram biyya bisaan lama oddu'uu dhaqe.

¹¹ Inni yennaa achi geye, qacha'aan alatti gaalota boolla bisaanii takka biratti jijilbiissise; yennaan sunille gara galgalaa yennaa dubartooti bisaan woraabbatiisaaf baatu.

¹² Inni daadimatee, «Mootii Waan Maraa, Waaqa gootaa kiyya Abrahaamii, adha yaada kiyya naa guutii, gootaa kiyya Abrahaamiifille jaalala keeti ka bara baraa mudhisi.

¹³ Kunoo, ani boolla bisaanii tana bira dhaabbatiisatti jira; durri kolbaa qachaa kanaalle bisaan woraabbatiisaaf as dhufiisatti jiran.

¹⁴ Isaan keessaa takkatti'iin, «Magganne'ee, bisaan unaa, okkotee teeti gad naaf qabi» hin jedhaan; isiille, «Uni, ani gaalota keetille hin obaasa» yoo anaan jette, isiin tun ta ati garbicha keeti Yisihaqiif filatte teetuu ti. Tanaan ani akka ati jaalala keeti ka bara baraa gootaa kiyya Abrahaamiif mudhitte hin beeka» jedhe.

¹⁵ Inni adoo daadimatee hin fixinuu, Ribqaan okkotee ba'attee dhutte; isiin intala Batu'elii ti; Batu'el ilma Naahorii obboleessa Abrahaamii ti; haati isaa Miilka'a.

¹⁶ Isiin durra banti'ii, guddoo shaggitti'i; nami tokkolle isii bira geyee hin jiru. Isiin gara boolla bisaanii gad buutee, okkotee ifii guutattee ol deebite.

¹⁷ Achiin duuba tajaajilaan sun ariiti'iin gara isi'ii dhaqee, «Magganne'ee, okkotee teeti keessaa bisaan diqqaa isaa na obaas» jedhe.

¹⁸ Isiin, «Gootaa kiyya, uni» jettee, ariifattee okkotee ifii harkatti gad buufattee, isa obaatte.

¹⁹ Inni dheebuu bayeen duuba, isiin, «Gaalota keetiifille haga isaan dheebuu bayanutti hin woraabaaf» jetteen.

²⁰ Maarre isiin ariifattee bisaan okkotee keessaa goonga'atti† naxxee, haga gaaloti isaa dheebuu bayanutti, ammalle woraabiisaaf gara boollaa rukkitte.

* **24:2** *Gudeeda kiyya qabadhu:* Akka aadaa worra Ibrootaatitti gudeeda qabatiis kakuu hin diiganne mudhisa. † **24:20** *Goongaa:* Yookiin Gonboo jedhama.

²¹ Namichille, waan inni dhageef, akka Mootiin Waan Maraa isaaf milkeesse mirkaneeffatiisaaf, cadhisee isii ilaale.

²² Gaaloti isaa yennaa dheebuu bayane, qubee worqi'ii gara giraama shanii teetu, ta funnaanitti keyatanu, irmuura worqi'ii lama ka gara giraama dhibba tokkoo fi kudhan te'u akka harkatti keyattuuf fuudhee,

²³ «Ati intala eennuu ti? Maganne'ee natti himi; anii fi worri na woliin jiru akka bulluuf mana abbaa keetii keessa addeen bulti'ii jirtii?» jedhe.

²⁴ Isiin deebittee, «Ani intala Batu'elii ti; inni ilma Miilkaan Naahoriif deette» jette.

²⁵ Isiin itti dabaltee, «Nuuti hicaace'ee fi buuyyoo okeyaa bacaa, addee bulti'ille hin qanna» jette.

²⁶ Achiin duuba namichi gad jedhee Mootii Waan Maraatiif sagadee,

²⁷ «Mootiin Waan Maraa addatamumma'aa fi jaalala ifii ka bara baraa gootaa kiyya Abrahaamiif eege, Waaqi gootaa kiyya Abrahaamii leellifamuu ti. Ideensa kiyya irratti na sooressee gara mana worra gootaa kiyya Abrahaamii ka na fide isa» jedhe.

²⁸ Achiin duuba intalti rukkittee, waan te'e mara namoota mana haadha isi'iititti hinte.

²⁹ Ribqaan obboleessa, «Laabaan» jedhamu tokko qaddiiyyu; inni gara namicha addee boolla bisaanii jiruu rukke'een bayee,

³⁰ qubee funnaaniitii fi irmuura harka obboleettii ifii irratti dhaggee, waan namichi isi'iin jedhelle hintuun dhage'ee, gara namichaa dhaqee boolla bisaanii cinaa gaalota bira dhaabbatuun isa dhagge.

³¹ Laabaan, namichaan, «Ati nama Mootiin Waan Maraa eebbise, koy gara manaa dhandhaa, maaf ala as dhaabbatta? Si'iif mana qopheesseera; gaalota keetille'eef addee qopheesseera» jedhe.

³² Maarre namichi gara manaa dhaqee; Laabaalle fe'iisa gaalota irraa hiikee, hicaace'ee fi buuyyoo okeyaa kenneef. Achiin duuba namichaa fi worra isa woliin jiranuuf bisaan miilaa kenne.

³³ Yennaa sagaleen dhikaate, namichi ammoo, «Waan dhufeeff haga himutti hin nyaadhu» jedhe.

Laabaan, «Nutti himi ree» jedheen.

³⁴ Maarre inni, «Ani tajaajilaa Abrahaamii ti.

³⁵ Mootiin Waan Maraa waan maraan gootaa kiyya guddoo eebbisee duroonseera. Inni hoole'ee fi re'ee, loon, meeti'ii fi worqii, tajaajiltoota dhiiraatii fi dubarti'ii, gaalotaa fi harreelee isaaf kenneera.

³⁶ Saaraan niitiin gootaa kiyyaalle dullummaa keessa ilma isaaf deetteerti; goottaan kiyyalle waan qabu mara ilma saniif kenneera.

³⁷ Gootaan kiyya na kakachiisee, «Lafa Kana'aanii, ta ani keessa le'u keessaa ilma kiyya niitii hin fuusisin;

³⁸ ammoo gara kolbaa abbaa kiyyaa, gara fira kiyyaa dhaqiitii, niitii ilma kiyyaaf fidi» jedhe.

³⁹ Anille gootaa kiyyaan, «Yoo intalti na faana dhufuu dhadde maan godha?» jedhee gaafadhe.

⁴⁰ Inni deebisee, «Mootiin Waan Maraa ka ani yennaa mara tajaajile, ergamaa ifii si woliin ergee ideensa keeti hin milkeessa, atille kolbaa abbaa kiyyaatii fi fira kiyya keessaa ilma kiyyaaf niitii hin fidda.

⁴¹ Ati yennaa gara fira kiyyaa dhaxxee, yoo isaan intala sitti kennuu didanelle, ati kakuu tiyya irraa bilisa hin teeta» anaan jedhe.

⁴² «Ani adha gara boolla bisaanii yennaa dhufe, «Mootii Waan Maraa, Waaqa Abrahaamii gootaa kiyyaa, yoo fedha keeti teete, waan ani dhufeef kana naa milkeessi.

⁴³ Ani boolla bisaanii bira as dhaabbatiisatti jira; intala bisaan woraabbati-isaaf dhuttu takkaan, «Maganne'ee okkotee teeti keessaa bisaan diqqaa isaa na obaas» jedhee hin gaafadha;

⁴⁴ isiille anaan, «Uni, gaalota keetille'eef hin woraaba» yoo jette, isiin ta Mootiin Waan Maraa ilma gootaa kiyyaatiif file teetuu ti» jedhe.

⁴⁵ Ani gadhaa kiyya keessatti daadimadhee adoo hin fixinuu, Ribqaan okkotee ifii ba'atte dhutte; isiin gara boolla bisaanii gad dhaxxee bisaan woraabbatte. Anille isi'iin, «Maganne'ee bisaan na obaas» jedheen.

⁴⁶ Isiin ariifatee okkotee ifi irraa gad buufattee, «Uni, gaalota keetille hin obaasa» jette. Maarre ani unee, isiin gaalotalle obaatte.

⁴⁷ Ani, «Ati intala eennuu ti?» jedhee gaafannaan, isiin, «Ani intala Batu'elii ilma Naahorii ti; haati isaa Miilka'a» jette. Achiin duuba ani qubee funnaan isi'iititti, irmuura harkatti keyee,

⁴⁸ gad jedhee Mootii Waan Maraatiif sagade. Mootii Waan Maraa, Waaqa Abrahaamii gootaa kiyyaa, ka intala obboleessa gootaa kiyyaa fuudhee ilma isaatiif akka ani geessuuf na sooresse leellise.

⁴⁹ Amma, gadhi-laafumma'aa fi addatamummaa gootaa kiyyatti yoo mudhittanu teete, natti hima'a; yoo hin mudhinne teetelle natti hima'a; anille waan godhu hin murteeffadha» jedhe.

⁵⁰ Achiin duuba Laabaanii fi Batu'el, «Wonni kun Mootii Waan Maraa irraa waan dhutteef, nuuti waan tokkolle jedhiisa hin dandeennu.

⁵¹ Kunoo, Ribqaan fuula keeti dura jirti; fudhadhuu deemi. Akkuma Mootiin Waan Maraa dubbate, isiin niitii ilma gootaa keetii teetuu ti» jedhane.

⁵² Tajaajilaan Abrahaamii sun yennaa waan isaan jedhane kana dhage'e, gad jedhee Mootii Waan Maraatiif sagade.

⁵³ Achiin duuba tajaajilaan Abrahaamii faaya meeti'iitii fi worqi'iitii, woyootalle fidee Ribqa'aaf kenne; inni kennansa gatii guddo'oo obboleessa isi'iitii fi haadha isi'iitiif kenne.

⁵⁴ Achiin duuba innii fi namooti isa woliin jiranu nyaatanee unanee, achuma bulane. Isaan yennaa boruuyyaa ganama ka'ane, tajaajilaan Abrahaamii, «Gara gootaa kiyyaa akka deebi'u, na geegessa'a» jedhe.

⁵⁵ Obboleessi isi'iitii fi haati isi'ii ammoo, «Intalti guyyuma kudhan nu woliin turtuu ti; achiin duuba deemuu dandeetti» jedhane.

⁵⁶ Inni ammoo isaaniin, «Eega Mootiin Waan Maraa deemmaa tiyya naa milkeesse, na hin tursina'a; gara gootaa kiyyaa akka dhaquuf na geegessa'a» jedheen.

⁵⁷ Isaan deebisane, «Me, intala waannee waan isiin jettu gaafanna» jedhane.

⁵⁸ Maarre isaan Ribqaa waamanee, «Namicha kana woliin hin deentaa?» jedhane gaafatane.

Isiin, «Ee, hin deema» jette.

⁵⁹ Maarre isaan Ribqaa obboleettii isaanii, guddittuu isi'ii woliin, tajaajilaa Abrahaamiille namoota isaa woliin geegessane.

⁶⁰ Isaan, Ribqaa eebbisane,
«Obboleettii teenna, haadha kuma heddu'uu te'i;
sanyiin teeti qachaa diinota ifii qabatanuu ti» jedhane.

⁶¹ Achiin duuba Ribqa'aa fi durri tajaajiltooti isi'ii gaala ifii irraa tee'anee, tajaajilaa Abrahaamii woliin deemiisaaf ka'ane. Maarre inni Ribqaa fuudhee deeme.

⁶² Yisihaq yennaa san gara boolla bisaanii ta, «Be'er-Lahaayi-Ro'i» jedhantu dhufee, lafa goomolee «Negeb» jedhantu keessa le'iisatti jiraayyu.

⁶³ Inni gaafa tokko galgala alatti bayee, yaadaan qabamee adoo deemuu, gaalota dhufiisatti jiranu dhagge.

⁶⁴ Ribqaalle yennaa Yisihaq dhaggite, gaala ifii irraa gad buutee,

⁶⁵ «Namichi diida keessa as nutti dhufiisatti jiru sun eennu?» jettee tajaajilaa Abrahaamii gaafatte.

Tajaajilaan deebisee, «Inni ilma gootaa kiyyaa ti» jedhe. Maarre isiin shaashii ifii fudhattee fuula ifii buqatte*.

⁶⁶ Tajaajilaalle waan godhe mara Yisihaqitti hime.

⁶⁷ Achiin duuba Yisihaq isii fidee gara dunkaana Saaraa haadha ifii seen-sifate. Inni Ribqaa fuudhee, isiille niitii isaa teete; inni isii jaalatee, gadda haadha ifii irralle'ee jajjabaate.

25

Abrahaam Niitii Dhibii Fuudhe (1 Dab. 1:32-33)

¹ Abrahaam niitii dhibii ta, «Qexuuraa» jedhantu fuudhe.

² Isiin Zimraan, Yokshaan, Medaan, Miidiyaan, Ishibaakii fi Shuwaa isaaf deette.

³ Yokshaan Sheeba'aa fi Dedaan uumate; sanyii Dedaanii Ashuriim, Letushiimii fi Le'umiim.

⁴ Ilmaan Miidiyaanii Efaa, Efer, Henok, Abiidaa fi Elda'a. Isaan kun martinuu ilmaan Qexuura'aa ti.

⁵ Abrahaam waan qabu mara Yisihaqiif kenne.

⁶ Ammoo adoo jiruu, ilmaan dubartooti dhibiin isaa deetteef kennansa kenneefii, gara lafa baya adu'uu Yisihaq irraa akka isaan fagaatanu godhe.

Du'a Abrahaamii

⁷ Barri Abrahaam le'e woggaa dhibbaa fi torbaatamii shan.

⁸ Abrahaam guddoo dulloomee, baralle quufee, gara worra isaa ka addee dhuga'aa jiruu gale.

⁹ Ilmaan isaa Yisihaqii fi Ishimaa'el goda Makfela'aa fichaa Efronii ilma Zohaarii Heetichaa, ka Mamree irraa gara aduun baatuu san keessatti isa awwaalane.

¹⁰ Abrahaam fichaa san worra Heetotaa irraa bitate; inni niitii ifii Saaraa biratti achitti awwaalame.

¹¹ Abrahaam du'een duuba Waaqi ilma isaa Yisihaq eebbise. Yisihaqille «Be'er-Lahaayi-Ro'i»* addee jedhantu baleessa bisaanii bira le'e.

Sanyii Ishimaa'elii

¹² Hiddi dhaloota sanyii Ishimaa'elii, ta Aggaariin nama biyya Gibxi'ii, tajaajiltuun Saara'aa, Abrahaamiif deette,

¹³ ilmaan Ishimaa'el uumate, akka gogeessa dhaloota isaaniititti asii gaditti galmowaneeran. Isaanille ilma Ishimaa'elii angaficha Nabaayoot, Qedaar, Adbi'el, Miibsaam,

¹⁴ Miishimaa, Dumaa, Maasaa,

‡ 24:62 Be'er-Lahaayi-Ro'i: Afaan Ibrootaatiin Baleessa Waaqajiraataa na dhagguu jechu'u. § 24:62 Negeb: Lafa kibba Kana'aanii ti. * 24:65 Buqatte: Yookiin hagooggatte. * 25:11 Be'er-Lahaayi-Ro'i: Afaan Ibrootaatiin Baleessa Waaqajiraataa na dhagguu jechu'u.

¹⁵ Hadaad, Temaa, Yetuur, Nafiishii fi Qedimaas.

¹⁶ Ilmaan Ishimaa'elii tun, abbootii gosa kudhanii lamaa ti; maqaan isaanii ollootaa fi addee quttuma isaaniitiin waamama.

¹⁷ Ishimaa'el woggaa dhibbaa fi soddonii torba le'ee du'e.

¹⁸ Sanyiin Ishimaa'elii biyya Gibxii irraa gara aduun baatu, karaa Asoor geessu, Awiila'aa fi Shuur odduu le'ane; isaan sanyii Abrahaamii dhibii woliin diinumma'aan wol irraa fagaatanee le'aniyyu.

Dhaloota Esaawu'uutii Fi Yaaqoobii

¹⁹ Hiddi dhaloota sanyii Yisihagii ilma Abrahaamii kana: Abrahaam Yisihag uumate.

²⁰ Yisihagille nama woggaa afurtamaa yennaa te'e, Ribqaa fuudhe; isiin intala Batu'elii, obboleettii Laabaanii worra Sooriya'aa ka Aaram biyya bisaan lama oddu'uu keessa le'uu ti.

²¹ Ribqaan maseena waan teeteef, Yisihag marroo isi'iitiif Mootii Waan Maraa daadimate. Mootiin Waan Maraalle daadimata isaa dhage'ee, niitiin isaa Ribqaan ulfootte.

²² Isiin lakkuu waan ulfootteef, Annoolleen gadhaa isi'ii keessatti wol dhiibane; isiille, «Wonni akkasii maaf na irratti teete?» jettee, Mootii Waan Maraa gaafatte.

²³ Mootiin Waan Maraa si'iin,
«Gosa biyya adda addaa lamatti
gadaamessa keeti keessa jira;
isaan woliif diina hin te'an.
Gosi takkaan taan caalaa hin jabaatti;
angafi maandhicha hin tajaajila» jedhe.

²⁴ Yennaan isiin deettu geennaan, Rebqaan lakkuu deette.

²⁵ Ka dura dhalate diimaa, nafi isaa duudiin woyaa dabbasittii waan fakkaatuuf, maqaa isaa, «Esaawuu[†]» jedhane.

²⁶ Annuun lammeesso'oo yennaa dhalate, jimuu Esaawuu waan qaba-teeruuf, maqaa isaa, «Yaaqoob[‡]» jedhane. Yennaa isaan dhalatane san Yisihag nama woggaa jaatamaa ti.

²⁷ Ijoolleen yennaa guddatte, Esaawu nama adamoo beeku, ka ala oolu te'e; Yaaqoob ammoo nama cadhisaa qe'ee oolu te'e.

²⁸ Yisihag, bineensa Esaawu adamsee ijjeesu waan nyaatuuf isa jaalate; Ribqaan ammoo Yaaqoob jaalatte.

²⁹ Gaafa tokko Yaaqoob unata[§] bilcheeffatuun, Esaawu guddoo beelowee adamoo irraa dhufee, ol seenee,

³⁰ Yaaqoobiin, «Ani waan gaggabeeruuf, unata diimaa kana irraa naa kenni» jedhe. Tanaaf inni, «Edoom^{*}» jedhame.

³¹ Yaaqoob deebisee, «Ati dursii angafummaa teeti natti gurgur» jedheen.

³² Esaawulle, «Kunoo, ani amma beelaan du'aara; angafummaan tun maan naa gooti» jedheen.

³³ Yaaqoob ammoo, «Dursii naa kakadhu» jedhe. Maarre inni isaaf kakatee angafummaa ifii Yaaqoobitti gurgurate.

³⁴ Achiin duuba Yaaqoob daabbo'oo fi ittoo san kenneefii, inni nyaatee unee, ka'ee deeme. Akka kanaan Esaawu angafummaa ifii tuffate.

[†] 25:25 Esaawu: Afaan Ibrootaatiin Dabbasicha jechu'u. [‡] 25:26 Yaaqoob: Afaan Ibrootaatiin Gufachiisaa jechu'u. [§] 25:29 Unata: worri gariin ittoo jedha. ^{*} 25:30 Edoom: Afaan Ibrootaatiin Diimaa jechu'u.

26

Yisihag Qachaa Geraarii Keessa Le'e

¹ Beela bara Abrahaamii biyyatti buute malee, beelti dhibiin biyyatti buute. Yisihagille gara Abiimelekii mootii Filisxeemotaa, qachaa Geraarii dhage.

² Mootiin Waan Maraa Yisihagitti mudhatee, «Lafa ani akka ati keessa leetu sitti himu keessa le'i malee, gara biyya Gibxi'ii gad hin bu'in.

³ Lafuma tana keessa turi! Anille si woliin hin jiraadha; si'ille hin eebbisa. Ani lafa tana mara si'ii fi sanyii teetii kennee, kakuu abbaa keeti Abrahaamiif kakadhe hin muummessa.

⁴ Ani sanyii teeti akka urjoota gubba'aa baceessee, lafa tana maralle isaanii hin kenna; gosi adda addaa ta lafa irraa martinuu karaa sanyii teetiitiin hin eebbifanti.

⁵ Sababa Abrahaam naaf ajajamee, ajaja kiyya, seerata kiyyaa fi seera kiyya eegateef, ani si hin eebbisa» jedhe.

⁶ Maarre Yisihag Geraar keessa le'e.

⁷ Namooti addee sanii marroo niitii isaa yennaa isa gaafatane, «Isiin obboleettii tiyya» jedhe; isiin dansittii waan teeteef, namooti addee sanii Ribqa'aaf jedhanee na ijjeesan jedhee, «Isiin niitii tiyya» jedhuu sodaate.

⁸ Yisihag yennaa hedduu achi tureen duuba, gaafa tokko mootiin Filisxeemotaa Abiimelek foddaa manaatiin gad ilaalee, Yisihag niitii ifii Ribqa'atti riiqatuun* dhagge.

⁹ Tanaaf Abiimelek isa waansisee, «Dhugumaan isiin niitii teeti! Ati maaf, «Isiin obboleettii tiyya» jette ree?» jedhee isa gaafate.

Inni deebisee, «Sababa isi'iitiif na ijjeesan jedhee yaadee ti» jedhe.

¹⁰ Abiimelekille, «Wonni ati nu irratti hujje kun maan? Namoota keessaa tokko niitii teeti woliin silaa diqquma hin rafin hafe; nu'ulle yakkaameyyii gootee dhadde» jedhe

¹¹ Achiin duuba Abiimelek, ajaja baasee, «Eennulle namicha kana yookiin niitii isaalle yoo tuqe ijjeefamuu ti» jedhee namoota mara ifi eeggachiise.

¹² Yisihag lafa sanitti midhaan facaasee, wogguma san dachaa dhibba galfate; Mootiin Waan Maraa waan isa eebbiseef,

¹³ inni dureessa te'ee, haga guddoo tujaara te'utti tujaarummaan isaa ittuma guddataa ideente.

¹⁴ Inni loon, hoolota, re'ootaa fi tajaajiltoota hedduu waan qabuuf, worri Filisxeemotaa isa hinaafe.

¹⁵ Tanaaf isaan boolla bisaanii ta adoo abbaan Yisihagii Abrahaam jiruu, tajaajiltooti Abrahaamii qotane mara biyyee itti guutane duuchane.

¹⁶ Achiin duuba Abiimelek, Yisihagiin, «Ati nu caalaa guddoo hunnaamessa teeteerta, nu irraa deem» jedheen.

¹⁷ Maarre Yisihag achii deemee, dhooqa Geraarii keessa qubatee, achi le'e.

¹⁸ Yisihag boolla bisaanii ta tajaajiltooti Abrahaamii abbaa isaa qotaneer-anu, ta worri Filisxeemotaa Abrahaam du'een duuba duuchane, deebisee gochisiisee, maquma abbaan isaa dur baase innille itti baase.

¹⁹ Tajaajiltooti Yisihagii dhooqa san keessa qotanee madda bisaanii dhag-gatane.

²⁰ Tissitooti worra Geraarii, «Bisaan kun keenaa» jedhanee, tissitoota Yisihagii woliin wol falmane. Waan isaan bisaan wol falmaneef, Yisihag maqaa boolla bisaanii san, «Eseeq»† jedhee baase.

* 26:8 Riiqatuun: Yookiin rirrigatuu. † 26:20 Eseeq: Afaan Ibrootaatiin Falmuu jechu'u.

²¹ Achiin duuba tissitooti Yisihaqii boolla bisaanii dhibii qotanee, isii irralle'etti falmii kaasane; maarre Yisihaq boolla bisaanii san, «Sixinaa†» jedhee, maqaa baase.

²² Inni achi irra dabaree boolla bisaanii dhibii qochisiise; isii irratti isaan wol falmii hin kaanne. Maarre inni boolla bisaanii san, «Amma Mootiin Waan Maraa addee badhoo nuu kenneera; nuutille lafa tana keessatti hin horra» jedhee, maqaa boolla bisaanii san, «Rehobot»§ jedhee baase.

²³ Yisihaq achii ka'ee, gara qachaa Bersheeba'aatitti ol baye.

²⁴ Mootiin Waan Maraa gaafuma san halkan, isatti mudhatee, «Ani Waaqa abbaa keeti Abrahaamii ti; ani si woliin waan jiruuf, hin sodaatin. Tajaajilaa kiyya Abrahaamiif jedhee si hin eebbisa; sanyii teetille hin baceessa» jedhe.

²⁵ Maarre Yisihaq achitti addee ciinca'aa ijaaree, maqaa Mootii Waan Maraa waammate; inni achitti qubatee, tajaajiltooti isaalle boolla bisaanii achitti qotane.

Wolii Galtee Yisihaqii Fi Abiimelekii

²⁶ Achiin duuba Abiimelek, gorsaa ifii Ahuzaatii fi ajajaa loltoota ifii Fikool woliin qachaa Geraariitii bayee gara Yisihaqii dhufe.

²⁷ Yisihaq isaaniin, «Ana jibbitanee eega na ariitane, isin maaf gara kiyya dhuttane ree?» jedhe.

²⁸ Isaan deebisane, «Mootiin Waan Maraa akka si woliin jiru qulleeffannee dhaggineerra; tanaaf kaku'uun wolii galtee godhatuu barbaanna. Gondoroon si woliin nuuti godhuu barbaannu

²⁹ akkuma nuuti adoo si hin tuqin, waan dansaa sii goonee, nageyaan si lakkinne, akka atille nu hin miine. Amma Mootiin Waan Maraa si eebbiseera» jedhane.

³⁰ Achiin duuba Yisihaq sagalee isaaniif qopheessee, isaanille nyaatanee unane.

³¹ Boruyyaa bari'iin ganama ka'anee, woliif kakatane; Yisihaqille isaan geegessee, nageyaan isa biraa deemane.

³² Guyyuma san tajaajiltooti Yisihaqii dhufanee, marroo boolla bisaanii ta qotane sanii isatti himanee, «Bisaan dhaggineerra» jedhane.

³³ Inni boolla bisaanii san, «Sheebaa*» jedhee maqaa baase. Maqaan qachaa sanii tanaaf haga adhaa, «Bersheebaa» jedhamee waamama.

Esaawu Durra Ormaa Fuudhe

³⁴ Esaawu yennaa woggaa afurtama geye, Yoditii intala Berii nama gosa Heetiitii fi Basmaatii intala Eloonii nama gosa Heetii fuudhe.

³⁵ Dubartooti tun Yisihaqii fi Ribqa'atti gadda guddaa fidane.

27

Yisihaq Yaaqoob Eebbise

¹ Yisihaq dulloomee yennaa ilti isaa baararroottetti*, ilma isaa angaficha Esaawu waamee, «Ilma kiyya» jedheen.

Innille deebisee, «Kunoo, ani as jira» jedhe.

² Yisihaq, «Kunoo, ani dulloomeera; guyyaa du'a tiyyaalle hin beeku.

³ Tanaaf, meya adamo'oo keeti, korojoo teeti, guube'ee fi daaya keeti fudhadhuu bayii bineensa naaf adansi.

⁴ Dhandhama ani jaaladhu qopheessiitii naa fidi; ani nyaadhee, adoo hin du'iniin dura akka si eebbisu naaf dhikeessi» jedheen.

† 26:21 Sixinaa: Afaan Ibrootaatiin *Diinummaa* jechu'u. § 26:22 Rehobot: Afaan Ibrootaatiin: Addee Badhoo jechu'u. * 26:33 Sheebaa: Afaan Ibrootaatiin *Kakuu Yookiin Torba* jechu'u. * 27:1 Baararroottetti: Yookiin garjitett.

⁵ Yennaa Yisihaq ilma ifii Esaawutti dubbate san Ribqaan dhage'iisatti jirtiyyu. Maarre yennaa Esaawu bineensa adansiisaaf baye,

⁶ Ribqaan ilma ifii Yaaqoobiin, «Abbaan keeti obboleessa keeti Esaawu'utti dubbatuun ani dhage'eera;

⁷ inni, «Bineensa adansiitii, dhandhama ani jaaladhu qopheessiitii naa dhikeessi; ani nyaadhee, adoo hin du'iniin dura Mootii Waan Maraa duratti si hin eebbisa» jedhe.

⁸ Amma, ilma kiyya, naaf ajajamii waan ani sitti himu godhi.

⁹ Dhandhama abbaan keeti jaalattu akka qopheessuuf, gara re'ee teennaa dhaqiitii buruusoo lama fidi.

¹⁰ Achiin duuba inni adoo hin du'iniin dura akka si eebbisu, abbaa keetiif fuutee dhikeessita» jette.

¹¹ Yaaqoob haadha ifii Ribqa'aan, «Kunoo, obboleessi kiyya Esaawu nafi isaa dabbasicha; nafi kiyya ammoo mucucaataa dabbasaa hin qanne.

¹² Dedha fa'a[†] abbaan kiyya yoo na qaqqabee ilaale, ani waan isatti murge fakkaadhee, eebba adoo hin te'in abaarsa ifitti fida» jedhe.

¹³ Ribqaan deebittee, «Ilma kiyya, abaarsa keeti ani hin fudhadha; akka ani jedhe godhiitii, deemii buruusota naa fidi» jette.

¹⁴ Maarre inni dhagee buruusota gara haadha ifii fide; haati isaalle akkuma abbaan isaa jaalatutti dhandhama qopheessite.

¹⁵ Achiin duuba isiin woyaa Esaawuu ilma isi'ii angafichaa adduu ta mana jirtu fuutee, ilma maandhicha Yaaqoobitti uffitte.

¹⁶ Isiin gogaa buruusoo re'e'eelle harka isaatii fi morma isaa mucucaata'atti uffitte.

¹⁷ Isiin dhandhamaa fi daabboo qopheessitelle ilma ifii maandhicha Yaaqoobitti kennite.

¹⁸ Yaaqoob gara abbaa ifii dhagee, «Abbaa» jedheen.

Innille deebisee, «Kunoo, ani as jira, ati ilma kam?» jedhe.

¹⁹ Yaaqoob abbaa ifitiin, «Ani Esaawuu ilma keeti angaficha; ani akka ati jette godheera. Ol jedhii tee'iitii, akka na eebbittu, foon ani adansee fide nyaadhu» jedhe.

²⁰ Yisihaq, «Ilma kiyya, attam akkas ariifattee dhaggatte?» jedhee gaafate.

Innille deebisee, «Mootii Waan Maraa Waaqa keetitti na milkeesse» jedhe.

²¹ Yisihaq, «Ani si qaqqabee, dhugumaan ilma kiyya Esaawu akka teete yookiin hin te'in akka beekuuf, as dhikaadhu» jedhe.

²² Yaaqoob gara abbaa ifii Yisihaqii dhikaate; innille isa qaqqabee, «Qoon-qoon, qoonqoo Yaaqoobii ti; harki ammoo harka Esaawuu ti» jedhe.

²³ Harki isaa dabbasicha akka harka obboleessa isaa Esaawuu waan te'eef, abbaan isaa isa beekuu hin dandeenne. Tanaaf inni isa eebbisiisaaf jedhee,

²⁴ «Ati dhugumaan ilma kiyya Esaawuu?» jedhee gaafate.

Inni deebisee, «Ee, ana» jedhe.

²⁵ Yisihaq, «Ilma kiyya, foon ati adansitee fidde nyaadhee, akka si eebbisuuf, as naa fidi» jedhe. Yaaqoobille isatti fidee, innille nyaate; daadhii woyni'iille akka unuuf fidee innille une.

²⁶ Achiin duuba abbaan isaa Yisihaq, «Ilma kiyya, as koyii, na sunqadhu» isaan jedhe.

²⁷ Maarre inni gara isaa dhufee isa sunqate; Yisihaqille foolee woyaa isaa ulatee, isa eebbisee,

«Fooleen ilma kiyyaa,

akka foolee fichaa Mootiin Waan Maraa eebbisee ti.

[†] 27:12 Dedha fa'a: Yookiin akka wotoolle hin jedhama.

- 28 Waaqi karfaffuu ol-gubba'aa,
lafa laayyoo,
midhaanii fi woynii bacaa sii kennu.
- 29 Gosi biyya adda addaa si tajaajiltuu ti;
kolbaan hedduulle si'iif gad jettuu ti.
- Obboleeyyan teeti irratti gootaa te'i;
ilmaan haadha teetii si'iif gad jettuu ti.
- Worri si abaare abaaramuu ti;
worri si eebbise eebbifamuu ti» jedhe.

Esaawu Eebba Yisihag Kadhate

- 30 Yisihag akkuma Yaaqoob eebbisee ka'een, Yaaqoob fuula abbaa ifii duraa gad bayeeruun, obboleessi isaa Esaawuun adamo'oo dhufee seene.
- 31 Innille dhandhama qopheessee gara abbaa ifii fidee, «Abba'a, ol jedhii tee'i; akka na eebbittuuf, foon ani adansee fide nyaadhu» jedhe.
- 32 Abbaan isaa Yisihag, «Ati eennu?» jedhee gaafate.
Inni deebisee, «Ani ilma keeti angaficha, Esaawu'u» jedheen.
- 33 Yisihag guddoo nayee hollatee, «Ka bineensa adansee naa fide, inni eennu ree? Dhufa teetiin dura ani nyaadhee isa eebbiseera; ee, inni ka eebbifame hin te'a!» jedhe.
- 34 Esaawu yennaa tana dhage'e, qoonqoo guddo'oon iyyee laaleffatee bowee, abbaa ifitiin, «Abba'a, analle eebbisi» jedhe.
- 35 Yisihag ammoo, «Obboleessi keeti sobaan dhufee, eebba keeti fudha-teera» jedhe.
- 36 Esaawu, «Ana sobiisi isaa kun yennaa lammeesso'oo ti. Yaaqoob jedhamuun isaa sirri'i; tanaan dura angafummaa tiyya na irraa fudhatee, ammalle eebba kiyya na irraa fudhate» jedhe. Achiin duuba, «Ati eebba tokkolle naaf hin hamburree?» jedhee abbaa ifii gaafate.
- 37 Yisihag deebisee Esaawu'uun, «Ani si'i irratti Yaaqoob goottonseera; obboleeyyan isaa mara tajaajiltoota isaa godheera. Midhaanii fi woynii bacaa isaaf kenneera. Ilma kiyya, maan si'iif godhuu dande'a ree?» jedhe.
- 38 Esaawu abbaa ifitiin, «Abba'a, ati eebba tokko qofa qaddaa? Abba'a, analle eebbisi» jedhee, qoonqoo ol qabatee bowe.
- 39 Abbaan isaa Yisihag deebisee, isaan,
«Ati lafa laayyoo irraa,
karfaffuu irraa fagaattee leeta.
- 40 Shallaagaa keetiin leeta;
obboleessa keeti tajaajilta.
- Yennaa didde ammoo,
waanjo isaa morma keeti irraa hin buufatta» jedhe.
- 41 Abbaan isaa waan isa eebbiseef, Esaawuun Yaaqoob jibbe. Inni gadhaa ifititti, «Yennaan abbaan kiyya du'u dhikaatteerti; achiin duuba ani obboleessa kiyya Yaaqoob hin ijjeesa» jedhe.
- 42 Ribqaan ammoo marroo yaada Esaawu'uu yennaa dhageette, Yaaqoobitti ergitee, «Dhage'i, obboleessi keeti Esaawu si ijjeesee, haluu bayliisaaf yaadateera.
- 43 Tanaaf amma, ilma kiyya, waan ani siin jedhu godhi. Ka'iitii gara obboleessa kiyya Laabaanii ka Kaaraan keessa jiruu baqadhu.
- 44 Haga obboleessi keeti aarii caffatu yenna'aaf isa waliin turi.
- 45 Obboleessi keeti yennaa aarii caffate, waan ati isa goote hin dedha. Achiin duuba ani nama sitti ergee achii si deebisa. Ani maaf isin lamaanuu guyyaa tokkotti dhabaa?» jetteen.

Yisihaq Gara Laabaanii Yaaqoob Erge

⁴⁶ Achiin duuba Ribqaan Yisihaqiin, «Sababa dubartoota Heetotaa ta Esaawu fuudhee tanaaf, ani le'ii tiyya jibbeera; Yaaqoobille dubartoota Heetotaa tama akkanaa tana, lafa tana keessaa niitii yoo fuudhe, ani du'iisa fedha» jette.

28

¹ Yisihaq Yaaqoob waamee, eebbisee, isa ajajee, «Dubartoota worra Kana'aanii hin fuudhin.

² Gara biyya phaadaan-Aaramii, mana Batu'elii abbaa haadha teetii dhaqitiin, durroota Laabaanii obboleessa haadha teetii keessaa takkattii achii fuudhi.

³ Waaqi waan mara dande'u si eebbisuu ti! Akka ati abbaa gosa biyya adda addaa heddu'uu teetu, ijoollee hedduu sii kennuu ti!

⁴ Inni akkuma Abrahaam eebbise, si'ii fi sanyii teetille eebbisuu ti! Lafa Abrahaamii kenne, ta ati amma akka alaga'aa teetee leetu, si'iif kennuu ti» jedhe.

⁵ Akka kanaan Yisihaq Yaaqoob erge; innille gara biyya phaadaan-Aaramii, gara Laabaanii ilma Batu'elii nama biyya Aaramii dhaqe. Inni obboleessa Ribqaa haadha Esaawu'uutii fi Yaaqoobii ti.

Esaawu Niitii Dhibii Fuudhe

⁶ Yisihaq akka Yaaqoob eebbisee, niitii akka achii fuudhu, gara biyya phaadaan-Aaramii akka erge Esaawu hubate; Yisihaq yennaa Yaaqoob eebbise, «Dubartii worra Kana'aanii hin fuudhin» jedhee akka isa ajajelle hubate.

⁷ Yaaqoob abba'aa fi haadha ifitiif ajajamee, gara biyya phaadaan-Aaramii akka dhaqeerulle hubate.

⁸ Maarre abbaan isaa Yisihaq dubartoota worra kana'aanii akka hin jaalanne Esaawu yennaa dhagge,

⁹ maarre inni gara Ishimaa'elii ilma Abrahaamii dhaqee, intala isaa Mahilaati, obboleettii Nabaayootii, dubartoota dur fuudheeru irratti ede'ee fuudhe.

Yaaqoob Bet'elitti Oojjate

¹⁰ Yaaqoob Bersheeba'aa bayee gara Kaaraanii dhaqe.

¹¹ Inni addee takka geyee, aduun waan seenteef, achi bule. Dhakaa addee sanii keessaa tokko fuudhee, boraafatee rafe.

¹² Inni achitti oojjatee, riqaa lafa irratti ijatee qacceed isaa ol-gubbaa geettu, ergantooti Waaqaa isa irra ol bayaa, gad bu'anuun oojju'uun dhagge.

¹³ Mootiin Waan Maraa qaccee riqaa'aa gubbaa dhaabbatee, «Ani Mootii Waan Maraa Waaqa Abrahaamii akaakoo keetiitii fi Yisihaqii abbaa keetii ti. Ani lafa ati irra irkatteertu tana sanyii teetiif hin kenna.

¹⁴ Sanyiin teeti akka maansa lafaa hin bacatti; isaan gara aduun seentuu fi baatu, gara kaabaa fi kibbaa hin babadhatan; kolbaan biyya lafaa duudiin si'ii fi sanyii teetiin hin eebbifaman.

¹⁵ Ani si woliin hin jiraadha; addee ati dhaxxu maratti ani si hin eega; gara lafa tanaalle si hin deebisa. Waan waadaa sii gale mara haga sii godhutti ani si hin lakkisu» jedhe.

¹⁶ Achiin duuba Yaaqoob hirriibaa dammaqee, «Mootiin Waan Maraa dhugumaan addee tana jira! Ani ammoo hin beenne» jedhe.

¹⁷ Inni sodaatee, «Addeen tun attam attam sodaachitti! Isiin mana Waaqaa ti; balbala ol-gubba'aa ti» jedhe.

¹⁸ Yaaqoob boruuyyaa barii ganama ka'ee, dhakaa boraafate san fuudhee, akka sooddu'uu dhaabee, qaccee isaa irratti zayitii ejersaa cosse.

¹⁹ Inni maqaa addee sanii, «Bet'el*» jedhee moggaase. Dur maqaan addee sanii, «Luz» jedhamaayyu.

²⁰ Yaaqoob Mootii Waan Maraatiif waadaa galee, «Yoo ati na woliin jiraatee, karaa ani deemu kana irratti na eedde, sagalee nyaadhuu fi woyaa uffadhu yoo naaf kennite,

²¹ nageyaan gara mana abbaa kiyyaa yoo deebi'e, ati Mootii Waan Maraa Waaqa kiyya hin teeta.

²² Dhakaan ani akka sooddu'uu dhaabe kunille, mana Waaqaa hin te'a; waan naaf kennitu mara keessaa kudhan keessaa tokko si'iif hin kenna» jedhe.

29

Yaaqoob Mana Laabaanii Geye

¹ Yaaqoob ittuma ideemee, gara kolbaa biyya gara aduun baatuu geye.

² Inni achi diida keessatti boolla bisaanii takka dhagge. Hooloti karra sadiille boolla bisaanii san bira ciitteertiyyu; hooloti sun boolla tana keessaa bisaan unti. Afaan boolla sanille dhakaa gudda'an cufama.

³ Yennaa karri hoolotaa martinuu achitti wolitti dacha'ane, tissitooti dhakaa afaan boolla bisaanii irraa konkolaachisane hoolota obaasan; achiin duuba dhakaa addee isaatitti deebisane afaan boolla bisaanii irra keyan.

⁴ Yaaqoob, «Obboleeyyan tiyya, isin eessaa dhuttane?» jedhee tissitoota gaafate.

Isaan deebisane, «Nuuti Kaaraanii dhunne» jedhane.

⁵ Inni isaaniin, «Laabaanii akaakoo Naahorii beettanii?» jedhe.

Isaan deebisane, «Ee, hin beenna» jedhane.

⁶ Yaaqoobille, isaaniin, «Inni nageyaa?» jedhe.

Isaan deebisane, «Ee, nageya; kunoo, intalti isaa Raahel hoolee fiddee dhufiisatti jirti» jedhane.

⁷ Inni, «Kunoo, latti guyya'a; yennaan galchuma hori'ii hin geenne. Hoolee bisaan obaasa'aatii geessa'aa dheechisa'a» jedhe.

⁸ Isaan ammoo, «Haga karri hoole'ee martinuu wolitti qabantee dhakaa afaan boolla bisaanii irraa konkolaachifamutti, nuuti tana goonee hin dan-deennu. Achiin duuba nuuti hoolee hin obaanna» jedhane.

⁹ Adoo inni isaan woliin dubbatiisatti jiruu, Raahel tissituu waan teeteef, hoolee abbaa ifii fiddee dhutte.

¹⁰ Yaaqoob yennaa Raahelii intala Laabaanii abuyyaa ifitii fi hoolee isaa dhagge, itti dhikaatee dhakaa boolla bisaanii irraa konkolaachisee, hoolee isaa san bisaan obaase.

¹¹ Achiin duuba inni Raahel sunqatee waan gammadeef bowe.

¹² Inni, «Ani ilma adaadaa teeti Ribqa'aa ti» jedhee isi'itti hime.

Isiille rukkittee abbaa ifiititti hinte.

¹³ Laabaan oduu marroo Yaaqoobii ilma obboleettii ifii yennaa dhage'e, isa qophatiisaaf rukkiisee gad bayee, hanqafatee, gara manaa seensise. Yaaqoob waan te'eeru mara yennaa itti hime,

¹⁴ Laabaan, «Ee, dhugumaan, ati foon kiyyaa fi dhiiga kiyya» jedhe. Yaaqoob ji'a tokko guutuu isa bira ture.

Yaaqoob Durra Laabaanii Fuudhe

* 28:19 Bet'el: Afaan Ibrootaatiin Mana Waaqaa jechu'u.

¹⁵ Laabaan Yaaqoobiin, «Ati hidda kiyya waan teetiif, toluma naaf hujuu hin malle. Meeqa akka ani isi'iif kaffalu barbaadda?» jedhe.

¹⁶ Laabaan durra lama qabaayyu; maqaan angafitti'ii Liya'a; ka maandhitti'ii Raahel.

¹⁷ Liyaan intala ila kuulaa ti; Raahel ammoo dansittii dhaaba toltu.

¹⁸ Yaaqoob Raahel waan jaalateef, Laabaaniin, «Akka ani intala teeti maandhittii Raahel fuudhu yoo naaf eeyyante, ani woggaa torba si hin tajaajila» jedhe.

¹⁹ Laabaan deebisee, «Ani nama dhibi'iif isii kennu'uu mannaa, isi'iif kennuu woyya; as na bira turi» jedhe.

²⁰ Maarre Yaaqoob Raahel fuudhiisaaf jedhee, woggaa torba tajaajile; inni waan isii jaalateef, woggooti kun guyyoota diqqaa isatti fakkaatane.

²¹ Achiin duuba Yaaqoob, Laabaaniin, «Yennaan tajaajila kiyyaa dhumateerti; Raahel akka fuudhuuf naa kenni» jedhe.

²² Maarre Laabaan jila fuudhaa fi heerumaa jilisee, kolbaa achi jirtu mara waame.

²³ Galgala san ammoo, addee Raahelii, intala ifii Liyaa fuudhee Yaaqoobitti geesse; Yaaqoobille isii woliin rafe.

²⁴ Laabaan tajaajiltuu ifii Zilfaa, akka tajaajiltuu isi'ii teetuuf, Liya'aaf kenne.

²⁵ Boruyyaa ganama Yaaqoob akka Liyaa teete beekke, gara Laabaanii dhagee, «Wonni ati na goote kun maan? Ani Raahel fuudhiisaaf si tajaajile. Ati maaf na sodde ree?» jedhe.

²⁶ Laabaan deebisee, «Biyya teenna keessatti intala angafitti'iin dura intala maandhittii hin heerumsiisanu.

²⁷ Torbaan waajibumma'aa Liyaa woliin fixadhu; woggaa torba ta dhibii deebitee yoo na tajaajilte, Raahelille si'iif hin kenna» jedhe.

²⁸ Yaaqoob akkuma inni jedhe godhe; yenna inni torbaan waajibumma'aa Liyaa woliin fixate, Laabaan intala ifii Raahel isa heerumsiise.

²⁹ Laabaan tajaajiltuu ifii Bilhaa, akka tajaajiltuu isi'ii teetuuf, Raaheliif kenne.

³⁰ Yaaqoob Raahel wolille'een rafee, Liyaa caalaa isii jaalate. Achiin duuba inni woggaa torba ta dhibii Laabaan tajaajile.

Ijoollee Yaaqoobiif Dhalatte

³¹ Liyaa caalaa akka Yaaqoob Raahel jaalate Mootiin Waan Maraa yenna dhagge, Liyaan akka ijoollee deettu godhe; Raahel ammoo maseena teete.

³² Liyaan ulfoottee ilma deette. Isiin, «Mootiin Waan Maraa rakkoo tiyya dhagge; amma dhugumaan dhirsi kiyya na hin jaalata» jettee, maqaa isaa Ruuben* baafatte.

³³ Isiin ammalle ulfoottee ilma dhibii deette, «Mootiin Waan Maraa akka ani hin jaalatamin dhage'ee, ammalle ilma kana naaf kenne» jettee, maqaa isaa Shimi'oon† baafatte.

³⁴ Liyaan ammalle ulfoottee ilma dhibii deette. Isiin, «Ani ilmaan sad waan isaaf deyeef, amma dhirsi kiyya jaalalaan natti hin maxxana» jettee, maqaa isaa Lewwii‡ baafatte.

³⁵ Achiin duuba Liyaan ammalle ulfoottee ilma dhibii deette. Isiin, «Amma ani Mootii Waan Maraa hin leellisaa» jettee, maqaa isaa Yihudaa§ baafatte.

* **29:32** Ruuben: Afaan Ibrootaatiin *Ilma dhagge* jechu'u. † **29:33** Shimi'oon: Afaan Ibrootaatiin *Anaaf dhage'e* jechu'u. ‡ **29:34** Lewwii: Afaan Ibrootaatiin *Wolitti maxxanuu* jechu'u. § **29:35** Yihudaa: Afaan Ibrootaatiin *Leellisuu* jechu'u.

30

¹ Raahel akka ijoollee Yaaqoobiif deya hin jirre yennaa beette, obboleettii ifii hinaattee, Yaaqoobiin, «Ijoollee naaf kenni, yookiin ani hin du'a» jette.

² Yaaqoob guddoo aaree, «Ani addee Waaqaa bu'ee hin dande'u. Ka ijoollee si dhooggate isa» jedhe.

³ Achiin duuba Raahel, «Bilhaan tajaajiltuun tiyya kunoo ti; akka isiin ijoollee naaf deettu, isii bira geyi. Akka kanaan, karaa isi'itiin ani haadha ijoolle'ee hin te'a» jette.

⁴ Maarre isiin Balhaan dhirsa ifitiif kennitee, innille isii bira geye.

⁵ Balhaan ulfoottee Yaaqoobiif ilma deette.

⁶ Raahel, «Waaqi naaf mure. Inni daadimata kiyya dhage'ee, ilma naaf kenne» jettee, maqaa isaa Daan* baafatte.

⁷ Balhaan garbittiin Raahelii ammalle ulfoottee Yaaqoobiif ilma lammeesso'oo deette.

⁸ Achiin duuba Raahel, «Ani obboleettii tiyya woliin wodhaantoo jadduu qabadhee, injifadhe» jettee, maqaa isaa Niftaalem† baafatte.

⁹ Liyaan akka deya lakkitte yennaa beette, tajaajiltuu ifii Zilfaa fuutee, akka niiti'iititti Yaaqoobiif kennite.

¹⁰ Achiin duuba Zilfaan Yaaqoobiif ilma deette.

¹¹ Liyaan, «Milkaaye» jettee, maqaa isaa Gaad‡ baafatte.

¹² Tajaajiltuun Liya'aa, Zilfaan ilma dhibii deettee jennaan,

¹³ Liyaan, «Ani guddoo gammadeera! Amma dubartooti, «Ta gammadde» naan jedhan» jettee, maqaa isaa Asheer§ baafatte.

¹⁴ Yennaa haammaa qamadi'ii, Ruuben gaafa tokko alatti bayee, midhaan muka fedhii jaalalaa kakkaasu* dhaggee, Liyaa haadha ifitiif fide. Raahel Liya'aan, «Maganne'ee, midhaan muka fedhii jaalalaa kakkaasu ka ilmi keetii fide san irraa naafille kenni» jette.

¹⁵ Liyaan deebittee, «Ka dhirsa kiyya na irraa fudhatte si hanqattee, amma midhaan muka fedhii jaalalaa kakkaasu, ka ilmi kiyya fidelle fudhatiisa barbaaddaa?» jette.

Raahelille, «Ati midhaan muka fedhii jaalala kakkaasu ka ilmi keeti sii fide naa yoo kennite, halkan edanaa Yaaqoob woliin buluu dandeetta» jette.

¹⁶ Galgala san Yaaqoob ficha'aa yennaa dhufe, Liyaan gad itti baatee, «Ani midhaan muka jaalala kakkaasu ka ilmi kiyya fideen waan si bitadheef, galgala adhaa na woliin bulta» jette. Maarre inni halkan san isii woliin bule.

¹⁷ Waaqi daadimata Liya'aa dhage'ee, isiin ulfoottee ilma shaneesso'oo Yaaqoobiif deette.

¹⁸ Liyaan, «Ani tajaajiltuu tiyya dhirsa kiyyaaf kenninaan, Waaqi gatii naaf kenne» jettee, maqaa isaa Yisaakor† baafatte.

¹⁹ Liyaan ammalle ulfoottee ilma jayeesso'oo Yaaqoobiif deettee,

²⁰ «Waaqi kennansa dansaa naaf kenneera. Ani ilmaan jaa waan isaa deyeef, amma dhirsi kiyya ulfinna naaf hin kenna!» jettee, maqaa isaa Zebuloon‡ baafatte.

²¹ Duuba irra isiin intala deettee, maqaa isi'ii «Dinaa§» jette.

²² Achiin duuba Waaqi Raahel qaabate; inni daadimata isi'ii dhage'ee akka isiin deettu godhe.

* **30:6 Daan:** Afaan Ibrootaatiin *Anaaf mure* jechu'u. † **30:8 Niftaalem:** Afaan Ibrootaatiin *Wodhaantoo* jechu'u. ‡ **30:11 Gaad:** Afaan Ibrootaatiin *Milkii* jechu'u. § **30:13 Asheer:** Afaan Ibrootaatiin *Gammada* jechu'u. * **30:14 Midhaan muka fedhii jaalalaa kakkaasu:** Yookiin hin rarragachiisa jedhamee beekkamu. † **30:18 Yisaakor:** Afaan Ibrootaatiin *Gatii* jechu'u. ‡ **30:20 Zebuloon:** Afaan Ibrootaatiin *Ulfina* jechu'u. § **30:21 Dinaa:** Afaan Ibrootaatiin *Mure* jechu'u.

²³ Isiin ulfoottee ilma deetee, «Waaqi salphinna kiyya na irraa fuudhe.

²⁴ Mootiin Waan Maraa ilma dhibii naaf kenne» jettee, maqaa isaa Yoseef* baafatte.

Yaaqoob Horii Hore

²⁵ Raahel Yoseef deetteen duuba, Yaaqoob, Laabaaniin, «Gara lafa itti dhaladheetii fi biyya tiyyaa akka dhaquuf gad na lakkisi.

²⁶ Ani attam attam akka si'iif huje atinuu hin beetta; ani hin deema, dubartoota tiyyaa fi ijoollee tiyya ta ani si'iif tajaajilee dhaggadhe naaf kenni» jedhe.

²⁷ Laabaan ammoo Yaaqoobiin, «Ani yoo si duratti fudhatama dhaggadhe, maganne'ee turi; sababa keetiif akka Mootiin Waan Maraa na eebbise, mudhii addaatiin beekeera.

²⁸ Mindaa ani si'iif kaffalu'uu male natti himi, ani si'iif hin kenna» jedhe.

²⁹ Yaaqoob deebisee, «Attam akka si'iif tajaajile, horiin keetille ani kunuun-suun attam akka si'iif horelle atinuu hin beetta.

³⁰ Yennaa hin dhufiniin dura, horii diqqaan keeti, amma guddoo baca-teera. Addee ani dhaqe duudi'itti Mootiin Waan Maraa si eebbiseera. Ani maatii tiyyaaf yoom wo godha ree?» jedhe.

³¹ Laabaan, «Maan si'iif kennu ree?» jedhee gaafate.

Yaaqoob, «Waan ani si'iin jedhu kana, yoo naaf goote, ani horii keeti deebi'ee hin kunuunsa, hin tissalle'e.

³² Ani adha horii keeti keessa deemee, hoolota keessaa titiifu'uu fi buburree, buruusoo gugurraayyee mara, re'oota keessalle'ee buruusoo titiifu'uu fi gugurraayyee mara addaan baasa. Isaan mindaa kiyyaa te'anuu ti.

³³ Akka kanaan addatamummaa tiyya hin dhaggita. Ati mindaa kiyya qorqoriisaaf yennaa dhuttu, re'oota titiifuu yookiin buburree hin te'in, yookiin hoolota gugurraayyee hin te'in yoo qabaadhe, akka hatamane hin beetta» jedhe.

³⁴ Laabaan deebisee, «Tole, akkuma ati jette teetuu ti» jedhe.

³⁵ Gaafuma san Laabaan korbeeyyii re'e'ee tattalee, titiifuu, re'oota dhal-tuu buburre'ee fi titiifuu yookiin xibaaxibbee adaadii nafa irraa qaddu mara, buruusoo hoole'ee gugurraayyee mara addaan baasee, ilmaan ifii akka tissanu godhe.

³⁶ Achiin duuba Laabaan ideensa guyyaa sadii Yaaqoob irraa fagaate. Yaaqoob hoole'ee fi re'ee Laabaanii ka hafane tisse.

³⁷ Yaaqoob ulee muka jiidhaa gosa sadii muree, dabaree dabaree quncee irraa quncisee buburreesse.

³⁸ Hoole'ee fi re'een bisaan uniisaaf yennaa dhufanu, korbeeyyiin waan hoqonsiteef, inni ulee buburreesse san fuula isaanii dura gongaa isaan keessaa unanu keessa keye. Hoole'ee fi re'een bisaan uniisaaf yennaa dhufanu,

³⁹ maarre isaan yennaa ulee saniin duratti hoqonsane, ilmoolee tattalee, titiifu'uu fi buburree dhalane.

⁴⁰ Yaaqoob ilmoolee tana qofitti baasee, hoole'ee fi re'ee Laabaanii tattale'ee fi gugurraayyee fuula dura dhaabbachiise. Akka kanaan Yaaqoob hoole'ee fi re'ee ifii, hoole'ee fi re'ee Laabaaniitiin addaan fowate.

⁴¹ Yennaa hoole'ee fi re'een jajjabooti hoqonsanu, isaan ulee san fuula duratti akka hoqonsanu†, ulee san isaan bira dhadhaaba.

* **30:24** Yoseef: Afaan Ibrootaatiin *Dabalu*u jechu'u. † **30:41** Hoqonsanu: Yookiin hophophisan.

⁴² Inni ammoo hoole'ee fi re'ee dadadhaboolee dura ulee san hin dhaabu-uyyu. Maarre hoole'ee fi re'een dadadhabooleen ta Laabaanii yennaa teetu, jajjaboon ta Yaaqoobii teete.

⁴³ Yaaqoob akka kanaan guddoo duroommate. Inni horii bacaa, tajaajil-toota dhiiraatii fi dubarti'ii, gaalotaa fi harreelee hedduu qabaayyu.

31

Yaaqoob Laabaan Biraa Baqate

¹ Ilmaan Laabaanii, «Yaaqoob waan abbaan keenna qabu mara fudhate; inni qabeenna kana mara abbaa keenna irraa dhaggate» jettuun Yaaqoob dhage'e.

² Yaaqoob ammalle Laabaan akka dur isa jaalattu akka isa jaalataa hin jirre hubate.

³ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Yaaqoobiin, «Gara lafa abbootii teetiitii fi fira keetii deebi'i. Ani si woliin hin jiraadha» jedhe.

⁴ Maarre Yaaqoob gara Raaheliitii fi Liya'aa ergee, addee lafa hoolotii fi Re'ooti isaa jirtutti waansise.

⁵ Inni isaaniin, «Abbaan keessan akka dur na jaalattu gara duraa akka na jaalataa hin jirre hubadheera. Waaqi abbaa kiyyaa ammoo na woliin jira.

⁶ Ani hunna tiyya adoo hin qusatin abbaa keessaniif akka huje, isin lamaanuu hin beettan.

⁷ Laabaan ammoo na sobee mindaa kiyya yennaa kudhan jijjiire. Te'uu malee Waaqi akka inni na miidhu hin goone.

⁸ Yennaa Laabaan, «Re'ooti titiifuun mindaa keeti» jedhe, hoolotii fi re'ooti marti ilmoolee titiifuu dhalane. Inni yennaa, «Re'ooti tattaleen mindaa keeti» jedhelle, hoolotii fi re'ooti duudiin ilmoolee tattalee dhalane.

⁹ Akka kanaan Waaqi hoole'ee fi re'ee abbaa keessan irraa fuudhee naaf kenne.

¹⁰ «Yennaa hoole'ee fi re'een rarragatanu, ani oojjadhee, korbeeyyiin tattaleen, buburre'ee fi titiifuun hoqonsanuun dhagge.

¹¹ Achiin duuba Ergamaan Waaqaa oojju'uun, «Yaaqoob!» jedhee na waame; anille, «As jira» jedheen.

¹² Ergamaan Waaqaa, «Kunoo, korbeeyyii tattalee, buburre'ee fi titiifuu qofatti hoqonsiisatti jira.

¹³ Ani addee ati soodduu dhaaddee, zayitii ejersaa itti naxxee naaf kakatetti, Waaqa Bet'elitti sitti mudhate. Amma lafa tana keessaa ariiti'iin bayiitii gara lafa itti dhalattee deebi'i» naan jedhe» jedhe.

¹⁴ Raahelii fi Liyaan deebisane, «Mana Abbaa keennaatitti qoodi dhaalaaf nu'uuf hafeeru jiraa ree?

¹⁵ Inni akka ormaatitti nu ilaala. Inni nu gurgureera; beesee marroo teennaaf kennantelle nyaatee fixeera.

¹⁶ Karri Waaqi abbaa keenna irraa fuudhe tun marti teennaa fi ta ijoollee teennaa ti; tanaaf waan Waaqi siin jedhe mara godhi» jedhaneen.

¹⁷ Maarre Yaaqoob dubartoota ifitii fi ijoollee ifii gaala irra teessisee,

¹⁸ inni horii ifii mara, meya qabu mara, horii Phaadaan-Aaram keessatti horate oofatee gara biyya Kana'aanii, gara abbaa ifii Yisihaqii dhaqiisaaf ka'e.

¹⁹ Laabaan rifeensa hoole'ee muriisa dhaqeeruun, Raahel waaqota abbaa ifii ka Laabaanii mana keessaa hatte.

²⁰ Yaaqoob akka baqataaru Laabaanitti adoo hin himin isa sobee deeme.

²¹ Yaaqoob waan qabu mara fudhatee baqate. Inni laga Efraaxiisiitiin gamatti bu'ee gara biyya koobitti'ii gara Giil'aadii deemiisaaf ka'e.

Laabaan, Yaaqoob Hordofe

²² Guyyaa sadiin duuba akka Yaaqoob baqate Laabaan dhage'e.

²³ Maarre inni fira ifii woliin Yaaqoob hordofe. Guyyaa torbaan duuba Laabaan biyya koobittii Giil'aadii keessatti itti dhikaate.

²⁴ Waaqi ammoo halkan oojju'uun gara Laabaanii dhufee, «Waan hantuu Yaaqoobitti akka hin dubbanne ifi eeggadhu!» jedheen.

²⁵ Maarre Laabaan Yaaqoob dhaqqabe. Yaaqoob biyya koobittii sanitti dunkaana ifii dhaabate; Laabaanille Giil'aad biyya koobittii san keessatti fira ifii woliin dunkaana ifii dhaabate.

²⁶ Laabaan, «Ati na soddee, akka dubartoota lola keessatti booji'antee durra tiyya fudhattee baduun keeti maan godhuu keeti?

²⁷ Ati maaf na soddee, adoo natti hin himin dhossa'aan baqatte? Adoo natti hintee jiraattee, silaa ani gammadaan, weeddu'uun, dibbe'ee fi kiraaraan akka ani si geegessaayyu.

²⁸ Ati akka ani akaakotaa fi durra tiyya sunqadhee nageya itti dhaamulle natti hin hinne. Wonni ati goote kun waan fokkisiisa'a.

²⁹ Ani si miidhiisaaf hunna qabaayyu; halkan edaa ammoo Waaqi abbaa keetii natti dubbatee, «Waan hantuu Yaaqoobitti akka hin dubbanne, ifi eeggadhu!» naan jedhe.

³⁰ Akka ati gara biyya abbaa keetii deebi'iisaaf guddoo barbaadde ani hin beeka; ammoo waaqota kiyya maaf hatte?» jedhe.

³¹ Yaaqoob deebisee, «Durra teeti hunnaan na irraa fudhatta jedhee waan sodaadheef.

³² Nu keessaa nami waaqota keeti fudhateeru yoo dhaggame ijjeefamuu ti. Firoota keenna dhugaa bayoota godhadhuutii, waan keeti mara ilaalladhuutii fudhadhu» jedheen. Yaaqoob akka Raahel waaqota Laabaanii hatteertu waan hin beenneef tana jedhe.

³³ Laabaan gara dunkaana Yaaqoobii, gara dunkaana Liya'aa, gara dunkaana dubartoota tajaajiltoota lamaaniille seene; ammoo waaqota ifii hin dhaggine. Achiin duuba inni gara dunkaana Raahelii seene.

³⁴ Raahel waaqota mana keessaa fuutee kooraa gaalaa jalatti dhossitee irra teette. Laabaan dunkaana duudii keessa ilaale; ammoo waaqota ifii hin dhaggine.

³⁵ Raahel abbaa ifitiin, «Abba'a, natti hin mufatin; xuriin waan natti dhutteertuuf, si duraa ka'uu hin dandeenne» jetteen. Maarre inni addee duudii ilaale; ammoo waaqota ifii hin dhaggine.

³⁶ Achiin duuba Yaaqoob aaree, «Ani maan balleesse? Ati wonni na ariituuf, ani seera maan yakke?

³⁷ Ati waan qabu mara keessa ilaalteen duuba, waan keeti te'e maan dhaggite? Waan tokkole yoo dhaggitee jiraatte, nu keessaa eentu sirrii akka te'e isaan akka muranuuf, as fira keetii fi fira kiyya dura keyi.

³⁸ Ani woggaa diddama si'iif hujeera. Yennaa tana keessatti hoolotii fi re'ooti teeti gadha'aa hin ganne*; korbeeyyii teetille ani hin nyaanne.

³⁹ Bineensi yennaa horii nyaatu mara, ka dhidhate san aninuu bakka buuse malee, ani gara keeti hin finne. Horii halkan yookiin guyyaa hatamelle, na kaffalchiitte.

⁴⁰ Yennaa hedduu guyyaa o'aan, halkan boojji'iin rakkadhe; rafiisalle hin dandeenne.

⁴¹ Ani woggaa diddama akka kanaan mana keeti keessa ture; woggaa kudhanii afur durra teeti lamaan fuudhiisaaf, woggaa jaa hoole'ee fi re'ee

* **31:38** *Gadha'aa hin ganne*: Yookiin hin sadheessine jedhamuulle hin dande'a.

teeti dhaggatiisaaf tajaajile. Yennaa san keessatti ati mindaa kiyya yennaa kudhan jijjiirte.

⁴² Waaqi abbaa kiyyaa, Waaqi Abrahaamii, ka Yisihaq isa sodaatu adoo na waliin hin jiraatinii, ati silaa harka duwwaa na ariiteertaayyu. Ammoo Waaqi rakkoo tiyyaa fi eloo tiyya dhaggee, halkan edaa si xixe» jedheen.

Wolii Galtee Yaaqoobiitii Fi Laabaanii

⁴³ Laabaan deebisee, «Dubartooti tun durra tiyya; ijoolleen isaaniille ijoollee tiyya; hoole'ee fi re'een tun tiyya. Wonni ati dhaggitu kun martinuu tiyya. Durra tiyya tanaa fi ijoollee isaanii ammoo ani attam miidhuu dande'a ree?

⁴⁴ Koottu amma anii fi ati wolii galtee godhanna; wolii galtee san qaabatiisaaf soodduu dhaabbanna» jedhe.

⁴⁵ Maarre Yaaqoob dhakaa tokko fuudhee soodduu dhaabe.

⁴⁶ Inni firoota ifitiin «Dhakaa wolitti qaba'a» jedhe; isaanille dhakaa wolitti qabane tuulaneen duuba, tuulaa san biratti sagalee nyaatane.

⁴⁷ Laabaan tuulaa dhaka'aa san, afaan Aaramiitiin, «Yagaar-sahadutaa†» jedhee moggaase. Yaaqoob ammoo afaan Ibrootaatiin, «Gaal-Ed‡» jedhee moggaase.

⁴⁸ Laabaan Yaaqoobiin, «Tuulaan dhaka'aa tun anaa fi si wodhakka'atti dhugaa baati» jedhe. Tanaaf addeen sun «Gaal-Ed» jedhante.

⁴⁹ Laabaan ammalle, «Yennaa nu gargar baanu Waaqi nu eeguutii» waan jedheef, addee saniin, «Miisphaa§» jedhe.

⁵⁰ Laabaan itti dabalee, «Ati yoo durra tiyya rakkitte yookiin yoo dubartii dhibii fuute, eennulle nu waliin jiraachuu dhabulle, Waaqi dhugaa teenna akka te'e qaabadhu.

⁵¹ Wodhakkaa teennatti dhakaan ani tuulee fi soodduun ani dhaabelle kunoo ti.

⁵² Ani si miidhiisaaf tuulaa dhaka'aa tana akka hin dabarre, atille na miidhiisaaf tuulaa dhaka'aatii fi soodduu tana akka hin dabarre, tuulaa dhaka'aatii fi soodduun tun dhugaa baatota teenna.

⁵³ Yoo wolii galtee tana hin eegin, Waaqi Abrahaamii, Waaqi Naahoorii, Waaqi abbaa isaanii nu adabuu ti» jedhe. Achiin duuba, Yaaqoob maqaa Waaqa abbaan isaa Yisihaq sodaatuutiin wolii galtee tana eegatiisaaf kakate.

⁵⁴ Yaaqoob gaara irratti ciincaa dhikeessee, sagalee akka nyaatanuuf fira ifii waame. Isaan nyaataneen duuba, halkan achi bulane.

⁵⁵ Laabaan barii ganamaan ka'ee, akaakotaa fi durra ifii sungatee, eebbise; achiin duuba inni gara mana ifii deebi'e.

32

Yaaqoob Esaawuun Wol Dhaggiisaaf Qophowe

¹ Yaaqoob adoo deemiisatti jiruu, ergantooti Waaqaa isa waliin wol wolde'ane.

² Inni yennaa isaan dhagge, «Kun quttuma Waaqaa ti» jedhee, maqaa addee sanii Mahanaayim* baase.

³ Yaaqoob ifiin dura gara biyya Edoomii, gara lafa Se'iir jedhantuu obboleessa ifii Esaawutti ergantoota erge.

⁴ Yaaqoob worra erge san ajajee, «Gootaa kiyya Esaawu'uun, «Ani tajaajilaan keeti Yaaqoob haga ammaa alagaa te'ee Laabaan bira le'aa ture.

† 31:47 Yagaar-sahadutaa: Afaan Aaramiitiin Tuulaa dhugaa baatu jechu'u. ‡ 31:47 Gaal-Ed: Afaan Ibrootaatiin Tuulaa dhugaa baatu jechu'u. § 31:49 Miisphaa: Afaan Ibrootaatiin Eegiisa jechu'u.

* 32:2 Mahanaay: Afaan Ibrootaatiin quttuma lama jechu'u.

⁵ Ani loonii fi harree, hoole'ee fi re'ee, tajaajiltoota dhiiraatii fi dubarti'ii qaba. Ani fudhatama akka dhaggadhuuf ergaa tana si gootaa kiyyatti himadha» jedheera Yaaqoob jedha'a» jedhe.

⁶ Ergantooti yennaa gara Yaaqoobii deebi'anee dhufane, «Nuuti gara obboleessa keeti Esaawuu dhandheerra; innille amma gara keeti dhufiisatti jira; namooti dhibba afuriille isa woliin jiran» jedhane.

⁷ Yaaqoob guddoo sodaatee, yaaddowee, namoota isa bira jiranu, hoole'ee fi re'ee, loon, gaalalle golii lamatti gargar qoode.

⁸ Inni, «Esaawuun golii tokko yoo miidhe, goliin tuun miliquu hin dandeetti» jedhee yaadee ti.

⁹ Achiin duuba Yaaqoob daadimatee, «Ee, Waaqa akaakoo kiyya Abrahaamii, Waaqa abbaa kiyya Yisihaqii naa dhage'i! Sittuu, «Biyya keetitti, fira keetitti deebi'i; anille waan dansaa si'iif hin godha» anaan jedhe.

¹⁰ Gadhi-laafumma'aa fi addatamummaan ati ana tajaajilaa keetitti mudhitte sun, naaf hin malle; yennaa qaraa ulee malee, ani womaa qabadhee laga Yordaanosii hin buune; amma golii lama tana woliin deebi'eera.

¹¹ Inni dhufee ana, haadhoti'ii fi ijoollee hin ijjeesa fa'a jedhee waan sodaadheef, ati harka obboleessa kiyya Esaawuu jalaa akka na baachu si gaafadha.

¹² Atuu, «Ani waan dansaa si'iif hin godha; sanyii teetille akka maansa abbaaya'aa, ka sababa bacinna isaatiif laakkowamuu hin dandeennee hin godha» jetteerta» jedhe.

¹³ Maarre inni halkan san achuma bulee, waan ifii qabu keessaa kennansa obboleessa ifii Esaawu'uuf dhikeessu,

¹⁴ re'oota dhaltuu dhibba lamaa fi korbeeyyii re'ootaa diddama, hoolota dhaltuu dhibba lamaa fi korbeeyyii hoolotaa diddama,

¹⁵ gaalota hoosisanu soddoma ilmoolee isaanii woliin, sa'oollee afurtamaa fi korommii kudhan, harreelee dhaltuu diddamaa fi harreelee wodala† kudhan file.

¹⁶ Inni horii kana cinna cinnaan qoqoodee, tajaajiltoota ifiititti kennee, «Anaan duratti dabara'aatii, wodhakkaa cinna cinna hori'iititti lafa lakkisa'a» jedhe.

¹⁷ Yaaqoob tajaajilaa dura jiruun, «Esaawuun obboleessi kiyya sitti dhufee, «Ati ka eennuu ti? Eessa dhaxxa? Horiin ati oofattu kun ka eennuu ti?» jedhee yennaa si gaafate,

¹⁸ ati, «Horiin kun ka tajaajilaa keeti Yaaqoobii ti. Inni horii kana gootaa kiyya Esaawu'uuf kennansa erge. Innille duuba keennaan dhufiisatti jira» jettaan» jedheen.

¹⁹ Yaaqoob cinna lammeesso'ootiin, cinna sadeesso'oolle'een, worra cinna hori'ii san oofu maraanuu, «Isinille yoo Esaawu isinitti dhufe, dubbuma tana itti hima'a.

²⁰ «Kunoo, tajaajilaan keeti Yaaqoob nu duubaan dhufiisatti jira» jedha'aan» jedhee gorse. Yaaqoob, «Kennansa ani ifi dura ergeef kanaan Esaawu naa araarama fa'a. Achiin duuba ani yennaa isa dhagge, inni na fudhata fa'a te'a» jedhee yaade.

²¹ Yaaqoob kennansa san dursee dabarsee ergee, ifiif ammoo halkan san addee quttumaa san bulee.

Yaaqoob Waaqa Woliin Wodhaantoo Qabate

† 32:15 Wodala: Korma harre'ee ti.

²² Yaaqoob halkanuma san ka'ee, niitota ifii lamaan, tajaajiltoota ifii ta durraa lamaanii fi ijoollee ifii kudhanii tokko fudhatee laga Yaaboqiitiin gamatti bu'e.

²³ Inni gamatti isaan buuseen duuba, waan qabu maralle gamatti buuse.

²⁴ Inni ammoo qofuu hafe.

Achiin duuba nami tokko dhufee haga boruun dayya'utti Yaaqoob woliin wodhaantoo qabate.

²⁵ Namichi sun akka dande'ee Yaaqoob hin injifanne yennaa dhagge, luqqee[‡] Yaaqoobii dhowe; Yaaqoobille adoo isaa woliin wodhaantoo qabatuu kurreen Yaaqoobii buqqaate.

²⁶ Achiin duuba namichi, Yaaqoobiin, «Boruun dayya'aaraa, na lakkis!» jedhe.

Yaaqoob ammoo, «Yoo na eebbitte malee, ani si hin lakkisu!» jedheen.

²⁷ Maarre namichi, «Maqaan keeti eennu?» jedhee gaafate.

Innille deebisee, «Maqaan kiyya Yaaqoob» jedhe.

²⁸ Achiin duuba namichi, «Ati Waaqaa fi nama woliin wodhaantoo qabatee injifatteerta; tanaaf, hagara achi maqaan keeti Israa'el[§] jedhamuu ti malee, Yaaqoob hin jedhamin» jedhe.

²⁹ Achiin duuba Yaaqoob, namichaan, «Maganne'ee maqaa keeti natti himi!» jedhee isa gaafate.

Inni ammoo, «Maqaa kiyya maaf gaafatta?» jedhee, achitti isa eebbise.

³⁰ Yaaqoobille, «Ani Waaqa fuula kiyya duratti dhaggee, haga ammaa jiru'uun jira» jedhe; tanaaf maqaa addee sanii, «Pheeni'el^{*}» jedhee moggaase.

³¹ Yaaqoob pheeni'elii ka'ee deemiisatti jiruun aduun baate; inni luqqee waan miidhameef hokkoliisatti jiraayyu.

³² Yaaqoob namicha woliin wodhaantoo qabatuun, namichi foon kurree luqqee[†] isaa irraa waan dhoweef, Israa'elooti haga adhaa foon kurree luqqee irraa hin nyaatanu.

33

Yaaqoobii Fi Esaawu Wol Dhaggane

¹ Yaaqoob ol ilaalee, Esaawuun namoota dhibba afur woliin dhufiisatti jiruun dhagge; tanaaf inni ijoollee Liya'atti, Raahelii fi dubartoota tajaajiltoota lamaanitti qoqoode.

² Inni dubartoota tajaajiltoota lamaan ijoollee isaanii woliin dura aansee, Liya'aa fi ijoollee isi'ii itti aansee, Raahelii fi Yoseef duuba aanse.

³ Yaaqoob isaaniin dura deemee, haga obboleessa ifii bira gewutti yennaa torba lafatti gad isaaf gombifame.

⁴ Esaawu ammoo isa qophatiisaaf itti rukkisee, hanqafatee isa sunqate. Isaan lamaanuu bowane.

⁵ Esaawu ol ilaalee, dubartootaa fi ijoollee yennaa dhagge, «Kolbaan si woliin jirtu tun ta eennuu ti?» jedhee gaafate.

Yaaqoob, «Isaan, ijoollee Waaqi badhaadha ifiitiin ana tajaajilaa keetiif kenne» jedheen.

⁶ Achiin duuba dubartooti tajaajiltoota ijoollee ifii woliin dhufanee gad gombifamaneef;

⁷ achiin duuba Liya'aa fi ijoolleen isi'ii dhufanee gad gombifamaneef; dhuma irratti Raahelii fi Yoseefille dhufanee gad gombifamaneef.

[‡] 32:25 Luqqee: Yookiin tafa [§] 32:28 Israa'el: Afaan Ibrootaatiin Waaqa woliin wodhaantoo qabatuu jechu'u. ^{*} 32:30 Pheeni'el: Afaan Ibrootaatiin Fuula Waaqaa jechu'u. [†] 32:32 Luqqee: Yookiin tafa.

⁸ Esaawu, «Horiin cinna cinnaan oofanuun dhagge kana maan yaaddee naaf ergite?» jedhee gaafate.

Yaaqoob deebisee, «Gootaa kiyya, si duratti fudhatama dhaggatiisaaf erge» jedhe.

⁹ Esaawu ammoo, «Obboleessa kiyya, ani bacaa qaba. Keeti si'iifuu te'uu ti» jedhe.

¹⁰ Yaaqoob, «Waawwo'o; ani si duratti fudhatama yoo dhaggadhe, kennansa kiyya ana irraa fudhadhu. Ati waan na fudhatteef, fuula keeti dhaggiisi, fuula Waaqaa akka dhaggeetitti laakkowa.

¹¹ Waaqi arjumma'aan waan naaf barbaachisu mara waan kenneef, maganne'ee kennansa ani si'iif fide kana fudhadhu» jedhe. Yaaqoob waan isa uttiseef, Esaawu kennansa fudhate.

¹² Achiin duuba Esaawu, «Ka'i ideennaa ti. Ani si dura hin deema» jedhe.

¹³ Yaaqoob ammoo deebisee, «Gootaa kiyya, ijoolleen, hoole'ee fi re'een, ilmooleen isaanille, loonii fi jabbiin dadhaboolee akka te'ane hin beetta. Guyyuma tokkoofille ariiti'in* yoo oofamane, isaan martinuu hin du'an.

¹⁴ Tanaaf, maganne'ee gootaa kiyya, ati ana tajaajilaa keeti dura deemi. Ani akka ideensa hori'itii fi ijoolle'etitti laanuma† haga Edoomitti si dhaqqabutti si hordofa» jedhe.

¹⁵ Esaawu deebisee, «Namoota na woliin jiranu keessaa garii si biratti lakkisa» jedhe.

Yaaqoob ammoo, «Ani fuula gootaa kiyyaa duratti fudhatama dhaggatiisa qofa malee, kun maaniif barbaachisa?» jedhe.

¹⁶ Tanaaf Esaawu gaafuma san gara Edoomii‡ deebi'e.

¹⁷ Yaaqoob ammoo gara addee, «Suukoot» jedhantuu ideemee, achitti ifiif mana, loon ifitiif gosee ijaare; tanaaf maqaa addee sanii, «Suukoot§» jedhee moggaase.

¹⁸ Yaaqoob phaadaan-Aaramii yennaa deebi'e, nageyaan gara qachaa Sheekemii ka biyya Kana'aanii keessaa dhufe; inni achi qacha'aan fuula dura qubate.

¹⁹ Inni sanyii Hamoorii, abbaa Sheekemii irraa lafa dunkaanii irratti dhaabate san, meetii dhibbaan bitate.

²⁰ Inni achitti addee ciinca'aa ijaaree, «Waaqi, Waaqa Israa'elii ti» jedhee maqaa baase.

34

Dinaan Bantii Badde

¹ Gaafa tokko Dinaan intalti Yaaqoobii, ta Liyaan deette, dubartoota biyya sanii ilaaliisaaf gad baate.

² Sheekemiin ilmi Hamoorii, nami gosa Hiiwoo, bulchaan lafa sanii, yennaa isii dhagge, hunnaan bantii isi'ii balleesse.

³ Inni ammoo shaggunmaa Dina'aatiin booji'amee, isii jaalatee, akka isiille isa jaalattuuf hawadate.

⁴ Abbaa ifiille'een, «Intala tana na fuusis» jedhe.

⁵ Yaaqoob intalti isaa Dinaan akka bantii badde dhage'e; ilmaan isaa ammoo horii isaa keessa ala waan jiranuuf, haga isaan deebi'anee dhufanutti cadhi jedhe.

⁶ Achiin duuba abbaan Sheekemii Hamoor Yaaqoob woliin dubbatiisaaf bayee dhage.

* **33:13** Ariiti'in: Yookiin gussa'aan † **33:14** Laanuma: Yookiin suutum. ‡ **33:16** Edoom: Yookiin Se'iir jedhama. § **33:17** Suukoot: Afaan Ibrootaatiin gosee yookiin gaaddisa jechu'u.

⁷ Ilmaan Yaaqoobii akkuma tikaa dhufaneen waan te'e dhage'ane. Sheekem intala Yaaqoobii hunnaan bantii balleessiisaan kolbaa Israa'elii waan salphiseef, isaan guddoo aarane.

⁸ Hamoor ammoo obboleeyyan Dina'aatiin, «Ilmi kiyya Sheekem intala teessan guddoo jaalateera. Maganne'ee fuudhuutii kenna'aaf.

⁹ Ilmaanii fi durri teenna wol fuudhanuu ti; durra teessan nuu kenna'a; isinille durra teenna fuudha'a.

¹⁰ As biyya teenna keessa nu woliin turuu dandeettan; addee feetane le'aa, daldalataa lafa qabaatuu hin dandeettan» jedhe.

¹¹ Sheekem abbaa Dina'aatii fi obboleeyyan Dina'aatiin, «Ani fuula keessan duratti fudhatama dhaggadhuutii malee, waanuma isin jettane hin kenna.

¹² Gatii intalaa haga feetane na gaafadha'a; isuma callaa fuudhuutii malee, waan isin feetane mara hin kenna» jedhe.

¹³ Sheekem obboleettii isaanii Dinaa waan bantii balleesseef, ilmaan Yaaqoobii, isaa fi Hamoorii abbaa isaatiif sobaan deebii kennaneef.

¹⁴ Isaan, Sheekemii fi abbaa isaatiin, «Nuuti nama haqanqabaa hin qabatiniiif, obboleettii teenna kennuu hin dandeennu; kun nu'uuf salphinna.

¹⁵ Isin akka keenna teetane, dhiirti teessan duudiin haqanqabaa akka qabatanu yoo gootane qofa, isii isiniif kennuu dandeenna.

¹⁶ Achiin duuba nuuti durra teenna isiniif hin kennina; nuutille durra teessan hin fuuna; kolbaa tokko teenee woliin hin leena.

¹⁷ Isin yoo nu dhage'uu dhaddanee haqanqabaa qabatuu diddane, nuuti intala teenna fudhannee hin ideenna» jedhane.

¹⁸ Wonni isaan dubbatane Hamoorii fi ilma isaa Sheekemitti dansaa teetee mudhatte.

¹⁹ Sheekem intala Yaaqoobii waan jaalateef, waan jedhame godhiisaaf hin turre; inni namoota mana abbaa ifii mara caalaa ulfinna qabaayyu.

²⁰ Maarre Hamoorii fi ilma isaa Sheekem gara karra qachaa ifii dhaqanee, namoota qachaa saniitiin,

²¹ «Kolbaan tun kolbaa nageyaa ti; nu woliin lafa tana le'anuu ti; bilisaan asii fi achi deddeemanee daldalatanuu ti; kunoo latti nu'uu fi isaaniifille hin geetti; nuutille durra isaanii hin fuuna; durra teennalle isaaniif hin kennina.

²² Akkuma isaanii, dhiirti teenna martinuu yoo haqanqabaa qabanne qofa isaaniiin wolii gallee woliin leena; kolbaa tokkolle hin teena.

²³ Yoo akkana goone, loon isaanii, qabeennii fi horiin isaanii marti keenna hin te'anii motii ree? Waan isaan jedhane yoo wolii galle qofa, isaan nu woliin le'uu dande'an» jedhane.

²⁴ Kolbaan qacha'aa marti yaada Hamoorii fi ilma isaa Sheekem dhi-keessane irratti wolii galanee, dhiirti marti haqanqabaa qabatane.

Obboleeyyan Dina'aa Haluu Isi'ij Baate

²⁵ Guyyaa sadiin duuba, dhiirti haqanqabaa qabatte adoo hin fayyin, ilmaan Yaaqoobii lamaan, obboleeyyan Dina'aa Shimi'oonii fi Lewwiin, shallaagaa ifii fudhatanee, eennulle adoo hin beekin, gara qacha'aa seenanee, dhiira mara,

²⁶ Hamoorii fi ilma isaa Sheekemille ijjeesane. Achiin duuba Dinaa mana Shekemiiitii fudhatanee deemane.

²⁷ Ilmaan Yaaqoobii dhibiin reeffa irra dhufanee, sababa obboleettiin isaanii bantii baddeef, qachaa san saamane.

²⁸ Isaan hoole'ee fi re'ee isaanii, loon isaanii, harree isaanii, waan qachaa keessaatii fi alaa mara fudhatane.

²⁹ Isaan waan gatii qabu mara fudhatanee, dubarti'ii fi ijoollee mara booji'anee, waan mana keessa jiru mara saamane.

³⁰ Yaaqoob Shimi'oonii fi Lewwi'in, «Worri biyya tanaa, worri Kana'aanii, worri Pheriizonii jibbanee akka na ijjeesanu godhiisaan, rakkoo natti fid-dane; laakkossi nama kiyyaa diqqa'a. Isaan wolitti dacha'anee yoo na lolan; anii fi maatiin tiyya hin banna» jedhe.

³¹ Shimi'oonii fi Lewwiin deebisane, «Sheekem obboleettii teenna akka sagaagaltitti'ii tolchuutii ree?» jedhane.

35

Waaqi Bet'elitti Yaaqoob Eebbise

¹ Waaqi Yaaqoobiin, «Ka'ii gara Bet'elii ol bayii, achi le'i! Yennaa ati obboleessa keeti Esaawu duraa baqatte ana Waaqa sitti mudhateef, addee ciinca'aa ijaar!» jedhe.

² Tanaaf Yaaqoob maatii ifitii fi worra isa waliin jiruun, «Waaqota orma odduu teessanii qaddanu baasa'a; nafa keessan qulqulleeffadha'a; woyaa teessanille jijjiiradha'a.

³ Kowaa gara Bet'elii deenna. Waaqa yennaa rakkoo tiyyaa na qarqaaree, addee maratti na waliin jiraateef, addee ciinca'aa achitti hin ijaara» jedhe.

⁴ Maarre isaan waaqota orma odduu ifitii qabanu mara, qubee gurraalle* Yaaqoobitti kennanee, inni qilxaa guddaa qachaa Sheekemii biraa jalatti awwaale.

⁵ Yennaa Yaaqoobii fi maatiin isaa achii deemiisaaf ka'ane, Waaqi kolbaa adaala qachootaa irratti sodaa guddoo waan buuseef, isaan hin hordonne.

⁶ Yaaqoob worra isa waliin jiru mara waliin gara Luzii, lafa Kana'aan keessaa, ta amma Bet'el jedhantuu dhaqane.

⁷ Yaaqoob achitti addee ciinca'aa ijaare; yennaa inni obboleessa ifii duraa baqatee ideeme, Waaqi achitti waan isatti mudhateeruuf, addee san, «El-Bet'el†» jedhee maqaa baase.

⁸ Yennaa san Deboraan Ribqaa gudditte duutee, qilxaa Bet'el irraa gara kibbaa jiru tokko jalatti awwaalante; tanaaf qilxaan sun, «Qilxaa bowaa‡» jedhame.

⁹ Yennaa Yaaqoob phaadaan-Aaramii deebi'ee dhufe, Waaqi ammalle isatti mudhatee, isa eebbise.

¹⁰ Waaqi, «Maqaan keeti Yaaqoob; haganaa achi ammoo maqaan keeti, «Israa'el» jedhama malee, «Yaaqoob» hin jedhamu» jedheen. Tanaaf akkuma Waaqi maqaa isa moggaasetti maqaan isaa, «Israa'el» jedhame.

¹¹ Waaqi isaan, «Ani Waaqa waan mara dande'u. Hori, bacadhu! Gosi biyya adda addaa si irraa hin dhaggaman; moototille si irraa hin dhalatan.

¹² Lafuma Abrahaamii fi Yisihaqiif kenne, si'ii fi sanyii teetiifille hin kenna» jedhe.

¹³ Achiin duuba Waaqi addee isatti dubbate sanitti isa lakkisee biraa ol baye.

¹⁴ Yaaqoob addee Waaqi isatti dubbate sanitti soodduu dhaabee, daadhii woyni'itii fi zayitii ejersaa irratti dhangalaase.

¹⁵ Tanaaf Yaaqoob maqaa addee Waaqi isatti dubbatee san, «Bet'el» jedhee baase.

Du'a Raaheliitii Fi Dhaloota Beniyaaminii

¹⁶ Yaaqoobii fi maatiin isaa Bet'elii ka'ane, biyya Efraataa geyaaranuun, Raahel ciniinsuu jadduu ciniinsifatte.

* **35:4** Qubee gurraa: Qubeen gurraa tun beessisa waaqota isaanii ti. † **35:7** El-Bet'el: Afaan Ibrootaatiin Waaqa Bet'elii jechu'u. ‡ **35:8** Qilxaa bowaa: Afaan Ibrootaatiin Alon-Bakut jedhame.

¹⁷ Ciniinsuun yennaa itti jabaatte, dubartiin deessittuu isi'ii, «Raahel, ati ilma dhibii waan deyaartuuf hin sodaatin!» jetteen.

¹⁸ Raahel ammoo du'iisaaf lubbuun keessaa bayaartuun, maqaa muca'aa, «Ben-Onii§» jettee baatte. Abbaan isaa ammoo, «Beniyaamin*» jedhee baase.

¹⁹ Achiin duuba Raahel duutee, karaa Efraataa dhaqu, ka amma Betlihem jedhamu cina'atti awwaalante.

²⁰ Yaaqoob irreensa Raahelii irratti soodduu dhaabe. Soodduun sun haga adhaa achi jirti.

²¹ Israa'el† achii deemee, xelleephoo Edariitiin gara kaanitti qubate.

Ilmaan Yaaqoobii

(1 Dab. 2:1-2)

²² Yaaqoob lafa san adoo le'iisatti jiruu, Ruuben niitii abbaa ifii Bilhaa gursumeettii woliin rafe; Yaaqoobille waan kana dhage'e.

Yaaqoob ilmaan kudhanii lama qabaayyu.

²³ Ilmaan Liyaan Yaaqoobiif deette: Ruuben ilma angaficha, Shimi'oon, Lewwii, Yihudaa, Yisaakor, Zebuloon.

²⁴ Ilmaan Raahel Yaaqoobiif deette: Yoseefii fi Beniyaamin.

²⁵ Ilmaan garbittiin Raahelii Bilbaan Yaaqoobiif deette: Daanii fi Naf-taalem.

²⁶ Ilmaan garbittii Liya'aa Zilfaan Yaaqoobiif deette: Gaadii fi Asheer.

Ilmaan Yaaqoobii worri phaadaan-Aaramitti dhalatane isaan kana.

Du'a Yisihaqii

²⁷ Yaaqoob qachaa Mamre'eetitti Kebroon bira, addee Abrahaamii fi Yisi-haq le'ane gara abbaa ifii Yisihaqii dhage.

²⁸ Yisihaq woggaa dhibbaa fi saddeettama le'e.

²⁹ Yisihaq guddoo dulloomee, baralle quufee du'e; ilmaan isaa Esaawu'uu fi Yaaqoob isa awwaalane.

36

Sanyii Esaawu'uu

¹ Hiddi sanyii Esaawuu ka «Edoom» jedhamuu asii gad jiran.

² Esaawuun dubartoota Kana'aan keessaa, Aadaa intala Eloonii nama gosa Heetii, Oholiibaamaa intala Aannaa ilma Zibe'onii nama gosa Hiiwoo fuudhe;

³ ammalle intala Ishimaa'elii, obboleettii Nabaayootii, Basmaati fuudhe.

⁴ Aadaan, Eliifaaziin isaaf deette; Basmaati Rewu'el deetteef;

⁵ Oholiibaamaan ammoo Ye'ush, Yaalamii fi Qoraahi deetteef; ilmaan Esaawu'uu tun biyya Kana'aaniititti dhalatane.

⁶ Esaawuun dubartoota ifii, ilmaan ifii, durra ifii, namoota mana ifii mara, loon, horii dhibii mara, qabeenna biyya Kana'aaniititti horate maralle fudhatee, Yaaqoobii obboleessa ifii biraa ka'ee, gara lafa dhibi'ii deeme.

⁷ Qabeenni isaanii guddoo waan bacateef, latti isaan gewuu waan dhad-deef, isaan lamaanuu woliin le'iisa hin dandeenne.

⁸ Tanaaf Esaawuun ka «Edoom» jedhamu biyya koobittii Se'iir keessa le'e.

⁹ Hiddi dhiloota sanyii Esaawu'uu, ka «Edoomota» jedhamanu, worra biyya koobittii Se'iir keessa le'eef abbaa ka te'ee, asii gad jiran.

¹⁰ Esaawuun niitii ifii Aadaa irraa ilma Eliifaaz, niitii ifii Basmaati irraa ilma Rewu'el uumate.

§ 35:18 Ben-Onii: Afaan Ibrootaatiin ilma gadda kiyyaa jechu'u. * 35:18 Beniyaamin: Afaan Ibrootaatiin harka kiyya middicha jechu'u. † 35:21 Israa'el: Dur inni Yaaqoob jedhama.

¹¹ Ilmaan Eliifaazii: Temaan, Omaar, Zafoo, Gaataamii fi Qenaz.

¹² Eliifaaziin ilmi Esaawu'uu, niitii gursameettii «Tiimnaa» jedhantu qabaayyu; isiille Amaaleqi deetteef. Isaan kun akkoowwan Aadaa haadha manaa Esaawu'uu ti.

¹³ Ilmaan Rewu'elii: Naahaat, Zeraa, Shamaa fi Miiza'a. Isaan kun akkoowwan Basmaatii haadha manaa Esaawu'uu ti.

¹⁴ Oholiibaamaan, niitiin Esaawu'uu, intalti Aannaa ilma Zibe'onii, ilmaan, «Ye'ush, Yaalam, Qoraahi» jedhamanu Esaawu'uuf deette.

¹⁵ Bulchitooti sanyii Esaawu'uu, ta ilma isaa angaficha Eliifaaz irraa dhutte: Temaan, Omaar, Zafoo, Qenaz,

¹⁶ Qoraahi, Gaataamii fi Amaaleqi; isaan ilmaan Eliifaazii worra lafa Edoomiititti bulchitoota te'e, akkoowwan Aadaa haadha manaa Esaawu'uu ti.

¹⁷ Bulchitooti sanyii Rewu'elii ilma Esaawu'uu: Naahaat, Zeraa, Shamaa fi Miiza'a; isaan kun ilmaan Rewu'elii worra lafa Edoomiititti bulchitoota te'ane, akkoowwan Basmaatii haadha manaa Esaawu'uu ti.

¹⁸ Worri Oholiibaamaa haadha manaa Esaawu'uu irraa dhalatane, bulchitoota te'ane: Ye'ush, Yaalamii fi Qoraahi; isaan kun Oholiibaamaa haadha manaa Esaawu'uu intala Aannaa irraa dhalatane bulchitoota te'ane.

¹⁹ Isaan kun sanyii Esaawu'uu ka «Edoom» jedhamuu, worra bulchitoota te'ane.

Sanyii Se'iirii

(1 Dab. 1:38-42)

²⁰ Ilmaan Se'iirii nama biyya Hoorii, worri duruu biyya keessa jiranu: Loxaan, Shobaal, Zibe'on, Aannaa,

²¹ Diishon, Ezerii fi Diishaan; isaan kun lafa Edoomiititti worra bulchitoota gosa Hoorii te'ane.

²² Ilmaan Loxaanii: Hoorii fi Hemaan; Tiimnaan obboleettii Loxaanii ti.

²³ Ilmaan Shobaalii: Alwaa, Manahaat, Ebaal, Shefoo fi Onaam.

²⁴ Ilmaan Zebe'onii: Ayya'aa fi Aannaan; Aannaaniin kun harree Zibe'onii abbaa ifii adoo tissuu, goomolee keessatti ka madda o'u dhagge.

²⁵ Ilmi Anna'aa Diishon; intalti isaa Oholiibaama'a.

²⁶ Ilmaan Diishonii: Hemdaan, Eshibaan, Yitraanii fi Keraan.

²⁷ Ilmaan Ezerii: Bilhaa, Zaawaanii fi Aqaan.

²⁸ Ilmaan Diishaanii: Uzii fi Aaraan.

²⁹ Bulchitooti worra gosa hoorii: Loxaan, Shobaal, Zibe'on, Aannaa,

³⁰ Diishon, Ezer, Diishaan. Isaan kun lafa Edoomiititti worra bulchitoota gosa Hoorii te'ane.

Mootota Biyya Edoomii

(1 Dab. 1:43-54)

³¹ Israa'el irratti mootiin adoo hin mootomin dura, lafa Edoomii irratti moototi mootomane ka asii gad jiranu.

³² Bel'aan ilmi Be'orii biyya Edoomii irratti mootii te'e; maqaan qachaa isaa Diinhaba'a.

³³ Bel'aan yennaa du'e, Yobaab ilmi Zera'aa nami biyya Bozra'aa mootii te'e.

³⁴ Yobaab yennaa du'e, Hushaam nami biyya Teema'aa mootii te'e.

³⁵ Hushaam yennaa du'e, Hadaad ilmi Badadii ka cinaa biyya Mo'aabiititti worra Miidiyaanii injifate mootii te'e; maqaan qachaa isaalle Aawiit jedhama.

³⁶ Hadaad yennaa du'e, Samlaan nami biyya Masreqa'aa mootii te'e.

³⁷ Samlaan yennaa du'e, Shaawul nami qachaa Rehobotii ka laga qarqaraa mootii te'e.

³⁸ Shaawul yennaa du'e, Ba'aal-Hanaan ilmi Akborii mootii te'e.

³⁹ Ba'aal-Hanaan ilmi Akborii yennaa du'e, Hadaad mootii te'e; maqaan qachaa isaa Phaawu jedhama. Niitiin isaa ta «Mahexaabel» jedhantu, intala Maxiredii nama biyya Mezahabii ti.

⁴⁰ Bulchitooti sanyii Esaawu'uu irraa dhufane tun, akka maatii maatii isaaniititti, akka addee addee isaaniititti tarreeffamaneeran. Maqaan isaanii: Tiimnaa, Alwaa, Yetet,

⁴¹ Oholiibaamaa, Elaa, Phiinon,

⁴² Qenaz, Temaan, Miibzaar,

⁴³ Magdii'elii fi Iraam. Isaan kun sanyii Esaawu'uu, bulchitoota Edoomii ti. Latti maatiin tun tokko tokkoonuu leete, maqaa maatii saniitiin beekkama. Esaawuun kun abbaa Edoomotaa ti.

37

Yoseefi Fi Obboleeyyan Isaa

¹ Yaaqoob lafa abbaan isaa le'eeru, lafa Kana'aanii keessa le'e.

² Dabarsiin maatii Yaaqoobii ta asii gadii tana.

Yoseef dargageessa woggaa kudhanii torbaa yennaa te'etti, ijoollee niitota abbaa ifii, ilmaan Bilha'aatii fi Zilfa'aa obboleeyyan ifii woliin hoole'ee fi re'ee tissaa ture; inni oduu waan badduu isaan hujanee fidee abbaa isaaniititti hime.

³ Yaaqoob* ilma dullummaa keessa dhaggate waan te'eef, ilmaan ifii mara caalaa Yoseef jaalate; inni qoloo seesa qaddu ta harka dheertu'uu hojjachiiseef.

⁴ Obboleeyyan isaa akka abbaan isaanii isaan mara caalaa isa jaalate yenna dhaggane, isa jibbanee, dubbii nageyaa isatti dubbatuu hin dandeenne.

⁵ Gaafa tokko Yoseef oojjuu oojjatee, yennaa inni obboleeyyan ifiititti hime, ittuu caalchisanee isa jibbane.

⁶ Inni, «Ani oojjuu oojjadhe isinitti hima.

⁷ Nuuti fichaa wodhakka'atti laddee qamadi'ii hidhiisatti jiraayyu; laddeen tiyya ol kaatee dhaabbatte; laddeen teessanille isii marsitee sagaddeef» jedheen.

⁸ Obboleeyyan isaa deebisanee, «Ati dhugumaan nu irratti mootii hin te'a jettee yaaddaa? Ati dhugumaan nu irratti baallii hin qabaadha jettee yaaddaa?» jedhaneen; obboleeyyan isaa sababa oojjuu isaatii fi waan inni jedheettiif ittuma caalchisanee isa jibbane.

⁹ Ammalle oojjuu dhibii oojjatee, obboleeyyan ifiititti himee, «Kunoo, ani oojjuu dhibii oojjadhee, aduun, ji'aa fi urjiin kudhanii tokko naaf sagadanuun dhagge» jedhe.

¹⁰ Yennaa inni abbaa ifiitii fi obboleeyyan ifiititti hime, abbaan isaa «Oojjuun tun oojjuu attamii ti? Ati dhugumaan anii fi haati teeti, obboleeyyan teetille si'iif hin saganna jettee yaaddaa?» jedhee isa xixe.

¹¹ Obboleeyyan isaa isa hinaafane; abbaan isaa ammoo waan kana qalbi'itti gabate.

¹² Gaafa tokko obboleeyyan Yoseefii horii abbaa ifii tissiisaaf gara Sheekemii dhaqane.

¹³ Yaaqoob†, Yoseefiin, «Obboleeyyan teeti Sheekemitti akka horii tissiisatti jiranu hin beetta. Gara isaanii si ergaa koy» jedhe.

Yoseefille, «Tole» jedhe.

* **37:3** Yaaqoob: Ka «Israa'el» jedhame. † **37:13** Yaaqoob: Yookiin Israa'el jedhama.

¹⁴ Abbaan isaa, «Dhaqii, obboleeyyan teetii fi horiin nageyaan akka jiranu ilaaliitii, deebi'ii natti himi» jedheen; akka kanaan abbaan Yoseefii dhooqa Kebroonii irraa isa erge.

Yoseef yennaa Sheekem geye,

¹⁵ isaa diida keessa daddaaqu, namichi tokko dhaggee, «Ati maan barbaadda?» jedhee gaafate.

¹⁶ Yoseef deebisee, «Obboleeyyan tiyya barbaadiisatti jira; maganne'ee addee isaan horii tissiisatti jiranu natti himi» jedheen.

¹⁷ Namichi, «Isaan, «Dootaan dhandha» woliin jedhanuun waan dhage'eef, asii deemanee» jedheen. Tanaaf Yoseef obboleeyyan ifii faana dhagee Dootaanitti isaan dhagge.

¹⁸ Obboleeyyan Yoseefii adoo inni isaanitti hin dhikaatin, fago'otti isa dhagganee, isa ijjeesiisaaf mala dhowane.

¹⁹ Isaan wol woliin, «Kunoo, abbaan oojju'uu sun dhufe.

²⁰ Kowa'a, isa ijjeennee, reeffa isaa boolla tana keessaa takkatti'itti qolaansinee, bineensatti nyaate jenna. Achiin duuba oojjuun isaa maan akka teetu hin ilaalla» jedhane.

²¹ Ruuben ammoo tana yennaa dhage'e, «Hin ijjeennu» jedhee harka isaanii keessaa isa baase.

²² Ruuben, isaaniin, «Dhiiga hin dhangalaasina'a; boolla goomole'ee tana keessa buusa'a malee, isa hin miidhina'a» jedhe. Inni harka isaanii keessaa isa baasiisee, abbaa isaatiif isa deebisiisaaf tana jedhe.

²³ Yoseef obboleeyyan ifii bira yennaa geye, isaan qoloo isaa ta seesa qaddu ta harka dheertu'uu san irraa baasane,

²⁴ boolla duwwaa bisaan keessa hin jirre, keessa buusane.

²⁵ Achiin duuba isaan sagalee nyaatiisaaf tetee'ane; isaan yennaa ol ilaalane daldaltooti Ishimaa'elootaa, Giil'aadi irraa gara biyya Gibxi'ii gad bu'aaranuun dhaggane. Gaaloti isaanii uddowaa, fiqire'ee fi qumbii ba'ataneeran.

²⁶ Achiin duuba Yihudaan obboleeyyan ifitiin, «Yoo obboleessa keenaa ijjeennee, du'a isaa dhossine, bu'aa maan dhagganna?

²⁷ Kowa'a, worra Ishimaa'elootaa kanatti isa gurgurra. Inni obboleessa keenaa, foonuma keenaa waan te'eef, harka keennaan isa hin ijjeennu» jedhe; obboleeyyan isaalle yaada kanatti wolii galane.

²⁸ Worri Ishimaa'elootaa daldaltooti Miidiyaanii karaa saniin dabaraa turane; obboleeyyan Yoseefii boolla keessaa ol harkittee isa baattee, meetii diddamatti worra Ishimaa'elootaatti gurguratte. Isaanille gara biyya Gibxi'ii isa geessane.

²⁹ Ruuben yennaa gara boollaa deebi'ee dhufe, Yoseef akka achi hin jirre dhaggee, gadde woyaa ifii tarsaase.

³⁰ Inni gara obboleeyyan ifii deebi'ee, «Mucaan achi hin jiru! Ani eessa goru naa woyya ree?» jedhe.

³¹ Achiin duuba isaan re'ee qalanee, qoloo Yoseefii dhiiga keessa cuuphane.

³² Isaan qoloo seesa qaddu ta harka dheertu'uu san fuudhanee gara abbaa ifii geessanee, «Nuuti qoloo tana dhaggineerra; me ilaali, woyaa ilma keetii moo ta isaatii moti?» jedhaneen.

³³ Innille qoloo beekke, «Qoloo ilma kiyyaa ti! Bineensatti isa nyaateera. Dhugumaan Yoseef kukkutameera» jedhe.

³⁴ Achiin duuba Yaaqoob gaddaan woyaa ifii tarsaasee, woyaa gaddaa uffatee, guyyaa hedduu ilma ifitiif gadde.

³⁵ Ilmaan isaatii fi durri isaa duudiin isa jajjabeessiisaaf dhufane; inni ammoo jajjabaatiisa didee, «Ani haga du'utti, ilma kiyyaaf hin gadda» jedhe. Tanaaf ilma ifii Yoseefiif bowe.

³⁶ Yennaa san worri Miidiyaanii, biyya Gibxi'ii keessatti, ajajaa eeddota mana mootumma'aa ka te'e, qondaalticha mootii Gibxi'ii Phoxiifaaritti Yoseef gurgure.

38

Yihuda'aa Fi Taamaar

¹ Yennaa san Yihudaan obboleeyyan ifii lakkisee, namicha qachaa Adu-laamii, ka maqaan isaa, «Hiiraa» jedhamu tokko bira qubate.

² Achitti Yihudaan intala nama biyya Kana'aanii, ka maqaan isaa, «Shuwaa» jedhamuu tokkoo dhagge; inni isii fuudhee isii woliin rafe.

³ Isiille ulfoottee ilma deette; innille* maqaa isaa «Eer» jedhee baase.

⁴ Ammalle ulfoottee ilma deette; maqaa isaa, «Onaan» jette.

⁵ Ammalle dabaltee ilma dhibii deette; maqaa isaa, «Shelaa» jette. Isiin biyya Kiziibiititti mucaa kana deette.

⁶ Yihudaan ilma ifii angaficha Eer, intala, «Taamaar» jedhantu fuusise.

⁷ Ilmi Yihuda'aa angafichi, Eer ammoo, Waaqa duratti nama hamaa waan te'eef, Waaqi isa ijeese.

⁸ Achiin duuba Yihudaan, Onaanii obboleessa Eeriitiin, «Gara niitii obboleessa keeti ka du'ee dhaqii, isii dhaaliitii, obboleessa keetiif sanyii dabarsi» jedhe.

⁹ Onaan sanyiin ta isaa akka hin teene waan beekeef, niitii obboleessa ifii woliin yennaa rafu mara, bisaan ifii ka sanyii te'u san lafatti jisse, obboleessa ifii sanyii malee hambure.

¹⁰ Wonni Onaan godhe kun Mootii Waan Maraa waan gaddisiitteef, Mootii Waan Maraa isalle ijeese.

¹¹ Achiin duuba Yihudaan, «Ilmi kiyya akkuma obboleessa ifii du'a» jedhee waan sodaateef, Taamaarii niitii ilma ifitiin, «Haga ilma kiyya Shelaan guddatutti haadha hiyyeessaa te'ii mana abbaa keetii tee'i» jedheen; Taamaariille dhaxxee mana abbaa ifii teette.

¹² Bara heddu'uun duuba, niitiin Yihuda'aa intalti Shuwa'aa duute; Yihudaan gadda ifii fixateen duuba, ka'ee jaala ifii ka, «Hiiraa» jedhamu, nama qachaa Adulaamii san woliin gara Tiimnaa lafa hoolota isaa irraa rifeensa muranu dhage.

¹³ Namooti, Taamaariin, «Abbaan sodda'aa keeti hoolota ifii irraa rifeensa mursiisiisaaf, Tiimna'atti ol hin baya» jedhane.

¹⁴ Shelaan fuudha geyeeraayyu; Taamaar ammoo isatti akka heerum-siifamaa hin jirre dhaggitee, woyaa haadha hiyyeessumma'aa jijjiirattee, fuula ifii shaashi'iin hagooggattee, karaa Tiimnaa dhaqu cinaa, seensuma Enaayimii dura teette.

¹⁵ Taamaar fuula ifii shaashi'iin waan hagooggatteef, Yihudaan sagaa-galtittii seye malee, isii hin beenne.

¹⁶ Isiin niitii ilma isaa akka teete waan hin beekiniif inni gara isi'ii dhagee, «Si woliin rafuu?» jedheen.

Isiin, «Yoo ani si woliin rafe maan naa kennita?» jettee gaafatte.

¹⁷ Inni deebisee, «Re'oota tiyya keessaa korbeessa buruusoo sii erga» jedheen.

* **38:3** Innille: Hiikkaan Afaan Ibrootaa gariin isiille maqaa isaa, «Eer» jettejedha.

Isiin deebittee, «Haga ati korbeessa buruusoo naa ergitu waan qabadhu tokko naa kenni» jetteen.

¹⁸ Yihudaan, «Waan qabattu maan sii kenna?» jedhe.

Isiin, «Qubee maqaan keeti irra jiru, waan ittiin mormatti hidhatanu woliin, ulee qabatteertu tanalle natti kenni» jette.

Innille kenneefii, isii woliin rafe; isiille isaaf ulfootte.

¹⁹ Achiin duuba Taamaar gara manaa dhaxxee, shaashii hagooggatte ifi irraa fuutee, woyaa haadha hiyyeessumma'aa san deebittee uffatte.

²⁰ Yennaa diggo'oon duuba, Yihudaan qube'ee fi waan ittiin mormatti hidhatanu, ulee dubartitti'itti kenneerulle deebifatiisaaf, buruusoo korbeessa re'e'ee tokko, jaala ifii nama qachaa Adulaamiitiin erge; inni ammoo isii dhaggiisaaf hin dandeenne.

²¹ Inni namoota qachaa Enaamiitiin, «Sagaagaltittiin seensuma qachaa Enaamii cinaa jirtu takka eessa gorte?» jedhe.

Isaan deebisane, «Lakkii, sagaagaltittiin as hin jirtu» jedhane.

²² Maarre inni gara Yihuda'aa deebi'ee, «Ani dubartittii dhagguu hin dandeenne; namooti achi le'anulle, «Sagaagaltittiin as hin jirtu» anaan jedhane» jedhe.

²³ Yihudaan deebisee, «Ani korbeessa buruusoo san isi'iif ergeeraayyu; ati ammoo isii dhagguu hin dandeenne; namooti akka nutti hin kolline, waan qabatte san fudhattuu ti» jedhe.

²⁴ Gara ji'a sadiitiin duuba, «Niitiin ilma keetii Taamaar sagaagaltee ulfootteerti» jedhee nami tokko Yihuda'atti hime.

Yihudaan, «Gad isii baasa'a, guba'aa ijjeesa'a» jedhee ajaje.

²⁵ Isiin yennaa qabantee gad baate, «Ani abbaa qube'ee fi ulee tanaatiif ulfoye. Qubee maqaan irra jiruu fi waan ittiin hidhatanu woliin[†], ulee tanalle ilaaliitii, ka eennuu akka te'ane natti himi?» jettee abbaa soddaa ifii Yihuda'atti ergite.

²⁶ Yihudaan meya san hubatee ilaalee, «Waan ani ilma kiyya Shela isii fuusisuu dhabeef, isiin na caalaa dhugaa qaddi» jedhe. Inni deebi'ee isii woliin hin ranne.

²⁷ Yennaan Taamaar deettu yennaa geette, lakkuu akka gadha'aa qaddu beekkame.

²⁸ Adoo isiin deyiisatti jirtuu, finni tokko harka gad baafate. Dubartittiin deessittu qaddee, liilana diimaa harka isaattitti hiitee, «Isatti dursee dhalate» jette.

²⁹ Yennaa inni harka ifii keessatti deebifate ammoo, obboleessi isaa dursee dhalate. Dubartittiin deessitelle, «Ati attam attam cassitee baate!» jettee, maqaa isaa «Faare[‡]» jette.

³⁰ Achiin duuba, finni liilana diimaa harka irraa qabu dhalate; maqaa isaalle, «Zaaraa[§]» jedhane baasane.

39

Yoseefi Fi Niitii Phoxiifaarii

¹ Yoseef gara biyya Gibxi'ii gad geessane; qondaaltota mootii Gibxi'ii keessaa tokkochi, phoxiifaariin nami biyya Gibxi'ii ajajaan eeddota mana mootumma'aa, worra Ishimaa'elootaa ka gara biyya Gibxi'ii isa fide irraa Yoseef bitate.

[†] 38:25 Waan ittiin hidhatanu: jechuun wodaroo mormattiin keyatanu. [‡] 38:29 Faare: Afaan Ibrootaatiin Cassee bawuu jechu'u. [§] 38:30 Zaaraa: Afaan Ibrootaatiin Diimaa cululuqaa jechu'u.

² Mootiin Waan Maraa waan Yoseef woliin jiraateef, wonni inni huju teeteef; inni mana gootaa ifii, Phoxiifaarii nama biyya Gibxi'ii keessa le'aa ture.

³ Phoxiifaar akka Mootiin Waan Maraa Yoseef woliin jiruu fi hujiin isaa marti akka isaaf teetu akka godhe dhaggee,

⁴ Yoseefitti gammadee, tajaajilaa ifii godhate; inni ajajaa mana ifii isa godhee, qabeenna ifii mara irralle'etti itti gaafatamaa godhe.

⁵ Yennaa saniin jalqabee, Mootiin Waan Maraa sababa Yoseefiitiif jedhee, qabeenna manaatii fi fichaa namicha biyya Gibxi'ii san mara eebbise.

⁶ Tanaaf Phoxiifaar waan qabu mara harka Yoseefiitti lakkise; Phoxiifaar waan nyaatu malee, waan tokkolle'eef hin yaaddawuuyyu.

Yoseef akka fi dhaaballe'een nama miidhaga'a.

⁷ Yennaa diqqo'oon duuba niitiin gootaa isaa Yoseef ilaaltee jaalattee, «Ana woliin rafi» jetteen.

⁸ Inni ammoo didee, niitii gootaa ifii saniin, «Gootaan kiyya waan mana keessaa maraaf tokkolle hin yaaddawu; waan qabu mara irratti itti gaafatamaa na godheera.

⁹ Mana kana keessatti gootaan kiyya na caalaa baallii hin qabu; ati waan niitii isaa teeteef si malee, wonni inni natti hin kennin hamburate tokkolle hin jiru. Ani attam waan hantuu akkanaa hujee, Waaqa yakka ree?» jedhe.

¹⁰ Dubartittiin guyyuma guyya'aan Yoseefitti dubbattulle, inni ammoo isii woliin rafiisa yookiin isii biratti dhaggamiisa didate.

¹¹ Gaafa tokko Yoseef hujii ifii hujatiisaaf, gara manaa yennaa seene, tajaajiltoota manaa keessaa tokkolle achi hin jiranuuyyu.

¹² Niitiin gootaa isaa woyaa isaa qabatee, «Koy, na woliin rafi» jetteen. Yoseef ammoo woyaa ifii isii harkatti lakkisee, baqatee manaa baye.

¹³ Isiin akka inni woyaa ifii isii harkatti lakkisee, alatti baqatee baye yennaa dhaggite,

¹⁴ tajaajiltoota mana isi'ii keessa hujanu waantee, «Kunoo, namicha Ibraawicha nu fokkisiisaaf abbaan manaa kiyya as fide kana ilaala'a. Inni hunnaan na woliin rafiisaaf gara kolloo tiyyaa seene; ani ammoo qoonqoo ol qabadhee itti iyye.

¹⁵ Inni akka ani qoonqoo ol qabadhee iyye dhage'ee, woyaa ifii na biratti lakkisee, baqatee manaa baye» jette.

¹⁶ Isiin haga gootaan isaa galutti woyaa isaa ifi bira keyattee eedde.

¹⁷ Achiin duuba isiin, «Garbichi Ibraawichi ati as fidde sun na fokkisiisaaf gara kolloo tiyyaa seene.

¹⁸ Akkuma ani qoonqoo ol qabadhee iyyeen, woyaa ifii na biratti lakkisee, alatti baqate» jette.

¹⁹ Niitiin isaa, «Garbichi keeti akkana na godhe» jettee waan isatti hinte yennaa dhage'e, gootaan Yoseefi guddoo aare.

²⁰ Tanaaf Yoseef fuudhee, mana hidha'aa ka worri mootichi hiisiseeru keessa jirutti isa galche. Yoseefille hidhaa keessa achi ture.

²¹ Mootiin Waan Maraa ammoo Yoseef woliin jiraatee, jaalala ifii ka bara baraa isatti mudhisee, ajajaa mana hidha'aa duratti akka Yoseef fudhatama dhaggatu godhe.

²² Ajajaan mana hidha'aa sun, namoota mana hidha'aa keessa jiranu maraa fi waan mana hidha'aa san keessatti hujamu mara irratti Yoseef itti gaafatamaa godhe.

²³ Mootiin Waan Maraa Yoseef woliin jiraatee, wonni inni huju marti akka isaaf teetu waan godheef, ajajaan mana hidha'aa waan Yoseef itti gaafatamaa itti te'e isatti lakkisee, itti hin yaaddonne.

40

Yoseef Oojjuu Worra Hidhameeruu Hiike

¹ Wonni kun teetee yennaa diqqo'oon duuba, itti gaafatamaan daadhii woyni'ii mootichaatii fi itti gaafatamaan mana sagalee mootichaa yakkaa mooticha gaddisiichu hujane.

² Mootichi qondaaltota ifii lamaan itti gaafatamaa daadhii woyni'iitii fi itti gaafatamaa mana sagale'eetitti aaree,

³ adduma Yoseef itti hidhameeru, mana ajajaa eeddotaa keessatti akka hidhamanu godhe.

⁴ Ajajaan mana hidha'aa Yoseefitti isaan kennee, innille isaan tajaajile. Isaan mana hidha'aa keessa yennaa diqqoo turane.

⁵ Halkan tokko qondaaltoti mootichaa lamaanuu, itti gaafatamaan daadhii woynii mootichaatii fi itti gaafatamaan mana sagalee mootichaa oojjuu oojjatane. Oojjuun tokko tokkoon isaaniituu oojjatane tun, hiikaa adda addaa qaddiiyyu.

⁶ Boruyyaa ganama yennaa Yoseef gara isaanii dhufe, isaan fuula bada-neeranuun dhagge.

⁷ Inni, «Isin adha maaf fuula baddaneertan?» jedhee isaan gaafate.

⁸ Isaan deebisane, «Halkan edaa nuuti lamaanuu oojjuu oojjannee, ammoo nami hiiku tokkolle dhabame» jedhane.

Yoseef isaaniin, «Oojjuu hiikiisaaf ka dandeessisu Waaqa; oojjuu teessan natti hima'a» jedhe.

⁹ Itti gaafatamaan daadhii woynii mootichaa oojjuu ifii Yoseefitti himee, «Ani oojju'uun muka woyni'ii tokko fuula kiyya duratti dhagge;

¹⁰ muki woyni'ii sun dameelee sad qabaayyu. Akkuma baala baaseen daraaree, unkuruurrille bilchaate.

¹¹ Ani muduunuu mootichaa qabadheeraayyu; maarre ani unkuruura fuudhee, muduunuu keessatti cunfee, mootichatti kenne» jedhe.

¹² Yoseef namichaan, «Hiikkaan Oojjuu teetii tana: dameeleen sadiin sun guyyoota sad.

¹³ Guyyaa sad keessatti mootichi Gibxi'ii hidhaa keessaa si hiika; yakkaa teeti sii lakkisee, addee hujii teeti duriititti si deebisa; akkuma dur itti gaafatamaa daadhii woyni'ii isaa yennaa teeteertu gootu, muduunuu harka mootichaattitti hin kennita.

¹⁴ Yennaa si'iif tolu sanitti ammoo na yaadadhu! Maganne'ee, marroo waan kiyyaa mooticha Gibxi'iititti himiitii, mana hidha'aa kana keessaa na baasiisaan waan dansaa naa godhi!

¹⁵ Ani biyya Ibrootaa keessaa hunnaan hatamee dhufe; biyya kanalle'etti waan mana hidha'aa keessa na galchu, waan tokkolle hujee hin jiru» jedhe.

¹⁶ Itti gaafatamaan mana sagale'eelle hiikkaan oojju'uu dansaa akka teete dhaggee, oojjuu ifille Yoseefitti himatee, «Anille oojju'uun daabboon kollon-joon sadiin mataa irra na jirtuun dhagge.

¹⁷ Kollonjoo ol aantu keessa sagaleen adda addaa ta mootichaaf qophoot-tetti jiraayyu; sinbirrooti ammoo kollonjoo san keessaa sagalee san nyaatisatti jirtiyyu» jedhe.

¹⁸ Yoseef deebisee, «Hiikkaan oojjuu teetii tana: saaxaraan sadiin sun guyyoota sad.

¹⁹ Guyyaa sad keessatti mootichi Gibxi'ii hidhaa keessaa si hiikee, morma keeti si irraa mursiiseen duuba reefa keeti mukatti hin fannisiisa; sinbir-rootille foon keeti hin nyaatan» jedhe.

²⁰ Guyyaa sadiin duuba, mootichi biyya Gibxi'ii jila dhaloota ifii irratti, qondaaltota ifitiif nyaata qopheesse; inni fuula qondaaltota ifii duratti itti gaafatamaa daadhii woyni'ii ifitiif fi itti gaafatamaa mana sagalee ifii hiike.

²¹ Mootichi itti gaafatamaa daadhii woyni'ii ifii addee isaa ta duriititti deebise; innille akkuma durii muduunuu harka mootichaattitti kenne.

²² Itti gaafatamaa mana sagale'ee ammoo muka irratti fannisiise. Wonni marti akkuma Yoseef isaaniif hiike teete.

²³ Itti gaafatamaan daadhii woyni'ii ammoo Yoseef hin qaabanne; inni marroo waan isaa mara dedhe.

41

Yoseef Oojjuu Mootichaa Hiike

¹ Woggaa lamaan duuba, mootichi biyya Gibxi'ii oojjuu oojjate; inni oojju'uun laga Nayilii bira dhaabbatee,

² loon dadansaan gagabboon torba bisaan keessaa bayanee, achi dhadhaabbatane, marra dheedanuu dhagge.

³ Achiin duuba, ammalle loon huhuqqoon googiraan torba bisaan keessaa bayanee, loon dadansaa gagabboo kaan bira dhaabbatane.

⁴ Loon huhuqqoon googiraan sun loon dadansaa gagabboo kaan nyaatane. Achiin duuba mootichi dammagee.

⁵ Mootichi Gibxi'ii ammalle deebi'ee rafee, lammeessoo oojjuu oojjate. Unkuruurri midhaanii torba midhaan unkuruurfatee, dansoomee agadaa tokko irratti lateeruun dhagge.

⁶ Saniin duuba, unkuruura midhaanii ka qoore ka qilleensi gara aduun baatuu gube torba lateeruun dhagge.

⁷ Unkuruurri qomore sun unkuruura midhaanii dadansaa san nyaate. Achiin duuba mootichi dammagee, akka oojjuu teete beeke.

⁸ Boruyyaa ganama yaad mootichaa waan raafameef, worra xano'ootii fi worra beekkolee biyya Gibxi'ii maratti ergee waansisee, oojjuu ifii isaanitti hime; nami tokkolle ammoo oojjuu isaa hiikuu hin dandeenne.

⁹ Achiin duuba itti gaafatamaan daadhii woyni'ii mootichaan, «Ani yakkaa tiyya adha qaabadhe.

¹⁰ Yennaa takka ati itti gaafatamaa mana sagale'eetii fi natti mufattee, mana ajajaa eeddootaa keessatti nu hiisitteertaayyu.

¹¹ Adoo achi keessa jirruu nuuti lamaanuu halkanuma tokkocha oojjuu oojjanne; oojjuun sun tokko tokkoonuu hiikkaa adda addaa qaddiyyu.

¹² Dargaggeessi worra Ibrootaa tokko, tajaajilaan ajajaa eeddootaa, hidhaa keessa nu waliin ture. Yennaa nuuti oojjuu teenna isatti hinne; innille hiikkaa oojjuu teennaa nu'uuf hime.

¹³ Wonni marti akkuma inni jedhe teetee; ani addee tiyyatti deebi'ee, itti gaafatamaan mana sagale'ee ammoo fannifame» jedhe.

¹⁴ Tanaaf mootichi Yoseefitti ergee, yoosuma mana hidha'aa keessaa fi-dane. Innille mataa haadatee, woyaalle jijjiiratee, mooticha dura dhikaate.

¹⁵ Mootichi isaan, «Ani oojjuu oojjadheeru qaba. Nami tokkolle ammoo hiikkaa isi'ii naaf himuu hin dandeenne. Ati yennaa oojjuu si'itti himane hiikuu dandetta jechuu dhage'eera» jedhe.

¹⁶ Yoseef deebisee, «Ani oojjuu hiikuu hin dande'u, Waaqi ammoo hiikkaa dansaa oojjuu teetiif hin kenna» jedhe.

¹⁷ Achiin duuba mootichi Yoseefiin, «Ani oojju'uun laga Nayilii bira dhaabbadhee,

¹⁸ loon dadansaan gagabboon torba laga keessaa bayanee, marra dheedanuun dhagge.

¹⁹ Achiin duuba, loon huhuqqoon googiraan dhibiin torba bisaan keessaa bayanuun dhagge. Ani loon akkas jibbisiisanu lafa Gibxi'ii keessatti ijjumaa dhaggee hin beeku.

²⁰ Loon huhuqqoon jibbisiisanu sun, loon dadansaa gagabboo torba ka qaraa san nyaatane.

²¹ Isaan ammoo loon torba san nyaataneen duuba, akkuma durii huhuqqataneen googiraawanee waan jiranuuf, akka isaan nyaataneeranu nami tokkole beekuu hin dandeenne. Ani achiin duuba dammaqe.

²² Ani ammalle oojjuu dhibii oojjadhee, unkuruura midhaanii ka midhaan unkuruurfate dadansaa torba agadaa tokko irratti lateeru dhagge.

²³ Achiin duuba, unkuruurri qooraan dhibiin torba ka qilleensa gara aduun baatuutiin gubatane torba latane.

²⁴ Achiin duuba unkuruurri qoore sun unkuruura dadansaa torba san liqinsane. Ani oojjuu san worra morutti hime; nami hiikkaa isi'ii naaf hime ammoo tokkole hin jiru» jedhe.

²⁵ Yoseef mootichaan, «Hiikkaan oojjuu teeti lamaaniituu tokkuma. Waaqi waan gara duraa hujaaru si'itti mudhiseera.

²⁶ Loon dadasaan torba woggaa torba; unkuruurri midhaanii dadansaalle woggaa torba. Hiikkaan oojjuu lamaaniituu tokkuma.

²⁷ Loon huhuqqoon jibbisiisanu torbaa fi unkuruurri midhaanii qooraan qilleensa gara aduun baatuutiin gubatane ka isaaniin duuba dhufane, woggaa beelaa torba.

²⁸ Dubbiin akkuma ani sitti hime, mooticha! Waaqi waan gara duraa hujaaru si'itti mudhiseera.

²⁹ Lafa Gibxi'ii mara keessatti woggooti misa gudda'aa torba hin dhufan.

³⁰ Woggoota torba saniin duuba ammoo, woggooti beelaa torba hin dhufan; woggooti misa gudda'aa ka lafa Gibxi'ii sun duudiin hin dedhama; beelti biyya hin fixxi.

³¹ Beelti itti aantu hantuu waan teetuuf, woggoota misa gudda'aa san hin dedhan.

³² Oojjuun lamaan ati oojjatte tun waan Waaqaan murteeffamee fi waan inni yennaa dhikoo keessatti godhu'uu jiru mudhitti.

³³ «Maarre mooti'i, nama qarumma'aa fi hubantii qabu filadhuutii, biyya Gibxi'ii irratti muudi.

³⁴ Ammalle qondaaltota dhibii worra woggoota misa gudda'aa torba san keessa, midhaan harka shan keessaa tokko fuudhanu filadhuutii muudi.

³⁵ Isaan woggoota dansaa dhufaartu keessatti midhaan mara wolitti guuranee, baallii mootichaa jalatti qachaa keessatti wolitti qabaneen eeganuu ti.

³⁶ Woggoota beelaa torba ta biyya Gibxi'ii irratti dhufaartu keessatti, biyyi beelaan akka hin banne, midhaan kun biyyaaf akka te'u maffamanuu ti» jedhe.

Yoseef Gibxi'ii Irratti Bulchaa Te'e

³⁷ Yaadi kun mooticha Gibxi'iitii fi qondaaltota isaa mara gammachiise.

³⁸ Mootichi, qondaaltota ifitiin, «Nuuti nama Ayyaanni Waaqaa keessa jiru ka akkanaa kana dhaggaatiisa dandeenaa?» jedhe.

³⁹ Maarre mootichi, Yoseefiin, «Waaqi waan kana mara si'itti mudhiseera. Qaro'oo fi hubataan akka keetii tokkole hin jiru.

⁴⁰ Ani biyya tiyya irratti bulchaa si godha. Kolbaan tiyya martille akka ati ajajjutti hin ajajanti. Na qofatti baalli'in si caala» jedhe.

⁴¹ Mootichi Gibxi'ii, Yoseefiin, «Kunoo, ani lafa Gibxi'ii duudii irratti baallii sii kenneera» jedhe.

⁴² Achiin duuba mootichi qubee ifii ta chaappa'aa* ifi irraa baasee, quba Yoseefiititti keye. Inni woyaa quncee talba'aa irraa hujante dansaalle itti uffisee, haachaba worqi'ii morma isaatitti keye.

⁴³ Mootichi garreettaa fardaa ka isatti aanu irra isa teessisee, worri garreettaa farda isaa dura deemanu lallabaa, «Gad jedha'a! Gad jedha'a!» jedhane; mootichi akka kanaan lafa Gibxi'ii mara irratti Yoseefiif baallii kenne.

⁴⁴ Mootichi Yoseefiin, «Ani mootii te'ulle, eeyyama keetiin malee nami lafa Gibxi'ii keessa jiru marti harka yookiin miila ifii hin tatachoofatu» jedhe.

⁴⁵ Mootichi, «Zaafenaat-Phane'aa» jedhee maqaa Yoseefiif kenne; intala Phoxii-Feraa hayyicha qachaa Onii, ta «Asenaat» jedhantu, Yoseef heerumsise. Yoseefille lafa Gibxi'ii duudii keessa deddeeme.

⁴⁶ Yoseef yennaa mooticha biyya Gibxi'ii tajaajiliisa jalqabe nama woggaa soddomaa ti. Inni mana mootumma'aa lakkisee lafa Gibxi'ii mara keessa deddeeme.

⁴⁷ Woggaa misaa torba san keessa latti midhaan bacaa kennite.

⁴⁸ Yoseefille midhaan woggaa misaa torba lafa Gibxi'ii keessatti dhaggame san qachoota keessatti kuuse. Midhaan inni qachuma qacha'atti wolitti qabe sun fichuma adaala qachoota saniitii ka dhaggame.

⁴⁹ Yoseef midhaan akka maansa qarqara abbaaya'aa bacatu kuuse; midhaan guddoo waan bacateef inni safariisaayyuu lakkise.

⁵⁰ Woggooti beelaa sun adoo hin dhufin dura, Yoseef ilmaan lama Aseenaatii intala Phoxii-Feraa irraa uumate; Phoxii-Feraan hayyicha qachaa Onii ti.

⁵¹ Yoseef, «Waaqi rakkinna kiyya maraa fi worra kiyya mara akka dedhu na godhe» jedhee maqaa ilma ifii angafichaa, «Minaasee†» jedhee baase.

⁵² Yoseef ilma lammeesso'oo, «Waaqi lafa ani itti rakkadhetti ijoollee na horsiise» jedhee maqaa isaa, «Efreet‡» jedhee baase.

⁵³ Woggooti misaa torba ta biyya Gibxi'ii keessaa muummotte.

⁵⁴ Achiin duuba akkuma Yoseef jedhe, woggooti beelaa torba dhufiisa jalqabane. Biyya dhibii duudii keessa beelti buute; biyya Gibxi'ii ammoo sagaleen jirtiyyu.

⁵⁵ Biyya Gibxi'ii duudii keessatti beelti jabaannan, kolbaan sagale'eef mootichatti iyyite. Inni worra Gibxi'iitiin, «Gara Yoseefii dhaqa'aatii, waan inni isiniin jedhu godha'a» jedhe.

⁵⁶ Beelti biyya Gibxi'ii duudii keessatti jabaannan, Yoseef mana kuusa'aa bane midhaan kolbaa Gibxi'iititti gurgure.

⁵⁷ Beelti biyya lafaa duudii irratti waan jabaatteef, namooti biyya lafaa duudii irraa midhaan Yoseef irraa bitatiisaaf, gara biyya Gibxi'ii dhufane.

42

Obboleeyyan Yoseefii Gara Biyya Gibxi'ii Dhaxxe

¹ Yaaqoob midhaan biyya Gibxi'ii akka jiru yennaa beeke, ilmaan ifitiin, «Maaf cadhittanee woli ilaaltan?

² Ani biyya Gibxi'ii midhaan akka jiru dhage'eera; nuuti akka hin duuneef, midhaan achii nuuf bita'a» jedhe.

* **41:42** Qubee ifii ta chaappa'aa: Bara san mootichi chaappaa ifii qubee ifii irratti hujisiifata † **41:51** Minaasee: Afaan Ibrootaatiin dedhuu jechu'u. ‡ **41:52** Efreet: Afaan Ibrootaatiin horuu jechu'u.

³ Maarre obboleeyyan Yoseefii kudhan biyya Gibxi'iitii midhaan bitati-isaaf gara biyya Gibxi'ii dhaqane.

⁴ Yaaqoob wonni hantuun isa irra dhaqqaddi jedhee waan sodaateef, Beniyaaminii tiruu Yoseefii, obboleeyyan isaa worra kaan woliin hin ergine.

⁵ Lafa Kana'aaniititti beelti waan buuteef, ilmaan Israa'elii* kolbaa dhibii hedduu woliin midhaan bitatiisaaf gara biyya Gibxi'ii dhaqane.

⁶ Yoseef bulchaa biyya Gibxi'ii waan te'eef, inni worra midhaan bitatiisa dhufuuf midhaan gurgursiisaayyu. Maarre obboleeyyan isaa gara isaa yennaa dhufane, isa duratti fuulaan lafatti gad jedhaneef.

⁷ Yoseef yennaa obboleeyyan ifii dhagge, isaan eennu akka te'ane beeke; ammoo akka isaan hin beennee te'ee, aari'iin, «Eessaa dhuttane?» jedhee gaafate.

Isaan deebisane, «Nuuti midhaan bitatiisaaf biyya Kana'aaniitii dhunne» jedhane.

⁸ Yoseef obboleeyyan ifii beekulle, isaan isa hin beenneeyyu.

⁹ Achiin duuba Yoseef oojjuu ifii marroo isaanii oojjate qaabatee, isaaniin, «Isin worra woy dooyu; biyyi teenna eessa gulaan dadhabbii akka qaddu ilaaliisaaf dhuttane» jedhe.

¹⁰ Obboleeyyan isaa ammoo, «Lakkii, gootta'a. Nuuti tajaajiltooti teeti midhaan bitatiisaaf dhunne.

¹¹ Nuuti martinuu ilmaan abbaa tokkoo ti; nuuti worra addatama'a malee, worra dooyuu moti» jedhane.

¹² Yoseef, isaaniin, «Lakkii! Isin biyyi teenna eessa gulaan dadhabbii akka qaddu ilaaliisaaf dhuttaneertan» jedhe.

¹³ Isaan deebisane, «Nuuti tajaajiltooti teeti obboleeyyan kudhanii lama, ilmaan abbaa tokkoo, ka lafa Kana'aanii keessa le'uu ti. Obboleessi keenna maandhichi amma abbaa keenna bira jira. Tokkochi du'eera» jedhane.

¹⁴ Yoseef ammoo isaaniin, «Akkuma ani isiniin jedhe: isin worra dooyu.

¹⁵ Isin amma tanaan qorqorantan: obboleessi keessan maandhichi haga as dhufutti, ani maqaa mootichaatiin kakadhaa, asii hin baatanu.

¹⁶ Isin keessaa nami tokko deemee obboleessa keessan fiduu ti. Wonni isin jettane dhugaa te'uu isi'ii haga qorqorantutti isin worri hafe hin hidhantan. Dubbiin teessan soba yoo teete, maqaa mootichaatiin kakadhaa, isin worra dooyu» jedhe.

¹⁷ Achiin duuba Yoseef guyyaa sadiif isaan hiisise.

¹⁸ Guyyaa sadeesso'ootitti, Yoseef, isaaniin, «Ani nama Waaqa sodaatu waan te'eef, hin leetaniitii waan ani isinitti himu kana godha'a:

¹⁹ Isin namoota addatamu yoo teetane, obboleeyyan teessan keessaa tokkochi as hidhaa keessatti hafuu ti; worri hafe maatii teessan ta beelowi-isatti jirtu saniif midhaan ba'atee deemuu ti.

²⁰ Achiin duuba obboleessa keessan maandhicha as naa fida'a. Kanaan akka isin dhugaa dubbatiisatti jirtanu ani hin beeka, isinille hin duutanu» jedhe.

²¹ Isaan wol woliin, «Nuuti yakkaa obboleessa keenna irratti hunyeef, amma rakkatiisatti jirra; nuuti rakkoo isaa dhagginee, innille akka nuuti isa fayyinnuuf nu kadhatee, nuuti ammoo isa dhage'uu didanne. Nuuti amma sababa kanaaf rakkoo tana keessa jirra» jedhane.

²² Achiin duuba Ruuben, isaaniin, «Ani akka isin mucaa hin miine isinitti himeeraayyu; isin ammoo na dhage'uu diddane. Maarre nuuti amma waan isa irratti hunyeef gatii dhaggatiisatti jirra» jedhe.

* 42:5 Ilmaan Israa'elii: Yookiin ilmaan Yaaqoobii jedhamuu hin dande'a.

²³ Yoseef waan isaan jedhanu hin beekaayyu; isaan ammoo karaa nama afaan hiikuutiin isa woliin waan dubbatiisatti jiranuuf, akka inni dubbii isaanii beeku hin beenne.

²⁴ Yoseef isaan biraa deemee bowe; achiin duuba gara isaanii deebi'ee isaanitti dubbate. Isaan keessaa Shimi'oon fuudhee adoo isaan dhagganuu hiisise.

Obboleeyyan Yoseefii Gara Kana'aanii Deebi'ane

²⁵ Yoseef akka qalqalluu isaanii midhaaniin guutane, beesee isaan midhaaniif kaffalaneeranu deebisane, subba tokko tokkoo isaanii keessa keyanee, galaalle galaasanuuf tajaajiltoota ifii ajaje.

²⁶ Obboleeyyan Yoseefii midhaan harree ifiititti fe'atane achii deemane.

²⁷ Addee halkan bulanetti, isaan keessaa tokkochi harree ifitiif midhaan kenniisaaf, qalqalluu ifii yennaa hiikee, afaan qalqalluu ifii keessatti beesee ifii dhagge.

²⁸ Inni obboleeyyan ifii waamee, «Beeseen ani midhaaniif kaffale naaf deebiteerti. Kunoo, qalqalluu kiyya keessa jirti!» jedhe. Isaan sodaatane hollatane, wol woliin, «Waaqi maan nutti fide?» jedhane.

²⁹ Isaan lafa Kana'aanii gara abbaa ifii Yaaqoobii yennaa dhufane, waan isaan irra dhaqqabe mara isatti himane.

³⁰ Isaan, «Bulchaan biyya Gibxi'ii, aari'in nutti dubbatee, «Biyya tiyya dooyiisa dhuttane» jedhee, nu himate.

³¹ Nuuti ammoo, «Nuuti namoota addatamu malee, worra dooyuu moti.

³² Nuuti obboleeyyan kudhanii lama, ilmaan abbaa tokkoo ti. Obboleessi keenna tokkochi du'eera; tokkochi lafa kana'aanii abbaa keenna woliin jira» jenneen.

³³ Achiin duuba bulchaan biyya Gibxi'ii sun, «Namoota addatamu te'uu keessan akka ani ittiin beeku, isin keessaa tokko na woliin turuu ti; worri hafe maatii teessan ta beelowiisatti jirtu saniif midhaan fuudha'aa deema'a.

³⁴ Obboleessa keessan maandhicha san as na bira fida'a. Akka kanaan isin namoota addatamu malee, worra dooyu akka isin hin te'in hin beeka; achiin duuba obboleessa keessan ka isin na biratti lakkittane isiniif hin deebisa; isinille as turtanee daldalatuu hin dandeettan» nuun jedhe» jedhane.

³⁵ Isaan qalqalluu ifii keessaa yennaa midhaan baasanu, tokko tokkoon isaanituu qalqalluu ifii keessatti beesee ifii dhaggane. Isaanii fi abbaan isaanii Yaaqoob yennaa beesee dhaggane sodaatane.

³⁶ Abbaan isaanii Yaaqoob, isaaniin, «Isin akka ani ijoollee tiyya mara dhabu barbaaddanii? Yoseef hin jiru; Shimi'oonille hin jiru; amma Beniyaaminille fudhatanee deemuu barbaaddan. Tun martinuu anuma irratti teete» jedhe.

³⁷ Achiin duuba Ruuben abbaa ifitiin, «Ani yoo Beniyaamin deebisee gara keeti fiduu dhabe, ilmaan tiyya lamaan ijeesi; Beniyaamin harka kiyyatti kenni, anille deebisee isa sii fida» jedhe.

³⁸ Yaaqoob ammoo, «Ani Beniyaamin akka si woliin deemu hin lakkisu. Obboleessi isaa waan du'eef, isa qofatti hafe†. Yennaa isin gara biyya Gibxi'ii deentanu, rakkinni tokko yoo isa irra dhaqqabe, dulluu tiyya keessa gaddaan akka boolla seenu gootan» jedhe.

43

Obboleeyyan Yoseefii Beniyaamin Woliin Gibxi'itti Deebi'ane

¹ Lafa Kana'aanii keessa beelti ittuma jabaataa deente.

† 42:38 Isa qofatti hafe: Ilmi ani niitii tiyya Raahel irraa uumadhe isa qofatti jira jechuu isaa ti.

² Maatiin Yaaqoobii midhaan isaan biyya Gibxi'iitii fidane san nyaatanee yennaa fixane, abbaan isaanii, «Ammalle gara biyya Gibxi'ii dhaqa'aatii midhaan diqqaa isaa nu'uuf bita'a» jedheen.

³ Yihudaan ammoo abba'aan, «Namichi sun, «Isin yoo obboleessa keessan fiddanee woliin dhufuu dhabaattane, deebitanee fuula kiyya hin dhaggi-tanu» jedhee nu ifi eeggachiiseera.

⁴ Ati yoo Beniyaamin nu woliin ergite, dhandhee midhaan si'iif hin binna.

⁵ Yoo isa hin ergin ammoo, bulchaan biyya sanii, «Obboleessa keessan fiddanee yoo hin dhufin fuula kiyya dura hin dhikaatina'a» waan nuun jedheeruuf, nuutille achi hin dhandhu» jedheen.

⁶ Israa'elille*, «Isin obboleessa dhibii akka qaddanu namichatti hintanee, maaf rakkoo guddoo natti fiddane» jedhe.

⁷ Isaan deebisane, «Namichi marroo teennaa fi marroo maatii teennaa jabeessee nu gaafatee, «Abbaan keessan jiraa? Obboleessa dhibii qaddanii?» jedhe. Nuutille gaaffii isaa deebinne. Akka inni, «Obboleessa keessan as fida'a» nuun jedhu attam beekuu dandeenna ree?» jedhaneen.

⁸ Achiin duuba Yihudaan, abbaa ifii Yaaqoobiin, «Nuuti, atii fi ijoolleen teenna beelaan akka hin duune, Beniyaamin na woliin ergi. Nuutille ammuma kaanee ideenna.

⁹ Ani wobii isaa hin te'a; isaaf itti hin gaafatama. Ani yoo deebisee isa si'iif hin fidin, bara le'ii tiyyaa mara na komadhu.

¹⁰ Nuuti adoo turuu dhannee jiraannee, silaa haga ammaa yennaa lama achi geennee deebineerraayyu» jedhe.

¹¹ Achiin duuba abbaan isaanii Yaaqoob, isaaniin, «Yoo akkas teete, waan biyya teennatti dhaggamu keessaa waan irra caalaa tolu: fiqiree, damma, uddowaa, qumbii, midhaan muka «Almond» jedhamuu, midhaan me-exxi'iille qalqalluu keessan keessa keya'aatii kennansa namichaaf kenna'a.

¹² Beeseen gaafa duraa deebitee afaan qalqalluu keessanii keessatti dhag-gantelle, hin dedhanteerti fa'aa, deebisa'aa geessa'aaf! Tanaaf beesee harka lama qabadha'aa dhaqa'a!

¹³ Obboleessa keessanille fudhadha'aatii, ammuma gara namicha sanii deema'a.

¹⁴ Waaqi waan mara dande'u, namichi sun akka isin mararee, obboleessa keessan ka dhibii kaanii fi Beniyaaminille akka isiniif gad lakkisu godhuu ti. Ani ijoollee tiyya ka dhabu yoo te'e, dhabuu ti» jedhe.

¹⁵ Maarre obboleeyyan sun kennansa sanii fi beesee harka lama san, Beniyaaminille fuudhanee, gara biyya Gibxi'ii ka'ane. Isaan dhaqanee Yoseef dura dhaabbatane.

¹⁶ Yoseef yennaa Beniyaamin isaan woliin jiruun dhagge, toowataa mana ifitiin, «Namoota kana gara mana kiyyaa geessi. Isaan sagalee guyya'aa na woliin waan nyaatanuuf, horii tokko qaliitii qopheessi» jedhe.

¹⁷ Toowataan sun akkuma Yoseef itti hime godhee, namoota san gara mana Yoseefii geesse.

¹⁸ Namooti sun gara mana Yoseefii waan geeffamaneef sodaatanee, «Nuuti waan beesee gaafa duraa deebitee afaan qalqalluu keennaa keessa keyan-teef, achi geeffamaarra. Inni nu lolee, harree teenna fudhatee, garboota ifii nu godhata» jedhane yaadane.

¹⁹ Tanaaf isaan balbala manaa dura yennaa geyane, toowataa mana Yoseefiitiin,

* **43:6** *Israa'el*: Ka dur Yaaqoob jedhamu kaanuma.

²⁰ «Gootta'a, nuuti tanaan dura yennaa tokko, midhaan bitatiisaaf gara Gibxi'ii dhunneerraayyu.

²¹ Addee bulletti ammoo, qalqalluu keenna hiinne, tokko tokkoon keen-naayyuu beese midhaaniin bitanne akkuma jirtuun afaan qalqalluu keen-naa keessatti dhaggine; amma beese san deebinne finneerra.

²² Midhaan daballee bitatiisaaf beese daballee finneerra. Yennaa san nama beese teenna qalqalluu keenna keessa keye nuuti hin beennu» jedhane.

²³ Toowataan sun, «Hin yaaddoyina'a. Hin sodaatina'a. Waaqi keessan, Waaqi abbaa keessanii, beese qalqalluu keessan keessa keyeera. Ani kaffaltii teessan fudhadheera» jedhe. Achiin duuba inni Shimi'oon gara isaanii gad baase.

²⁴ Toowataan sun namoota san gara mana Yoseefii seensisee, bisaan miila dhiqatanu kenneef. Harreelee isaaniitiifille okeya[†] kenne.

²⁵ Isaan akka Yoseef woliin sagalee guyya'aa nyaatanu waan dhage'aneeranuuf, kennansa ifii isaaf kenniisaaf qopheessane.

²⁶ Yennaa Yoseef manatti gale, isaan kennansa qopheessane isaaf kennanee, isa duratti fuulaan lafatti gad jedhaneef.

²⁷ Yoseef nageya isaanii gaafatee, «Jaarsi abbaan keessan sun attam? Haga ammaa hinuma jiraa?» jedhe.

²⁸ Isaan deebisane, «Garbichi keeti, abbaan keenna, fayya'a; haga ammaalle hinuma jira» jedhaneen. Isaan ulfinna Yoseefiitiif, fuula isaa duratti lafatti gad jedhane.

²⁹ Yoseef obboleessa tiruu ifii Beniyaamin yennaa dhagge, «Obboleessi keessan maandhichi ka isin marroo isaa natti hintane kanaa?» jedhee gaafate. Inni, Beniyaaminiin, «Ilma kiyya, Waaqi si eebbisu» jedhe.

³⁰ Yoseef yennaa obboleessa ifii dhagge, waan itti dhage'ameef, ariifatee gad bayee, kolloo ifii keessa dhagee achitti bowe.

³¹ Achiin duuba inni fuula ifii dhiqatee, gad baye. Ifi qabatee[‡], sagalee akka fidanu ajaje.

³² Gibxooti worra Ibrootaa woliin nyaatiis tuffatama waan itti fakkaattuuf, Yoseefiif qorii takka'atti, obboleeyyan isaatiif qorii dhibi'itti, Gibxoota Yoseef biratti akka nyaatanuuf qorii dhibi'itti dhikeessane.

³³ Obboleeyyan Yoseefii akkuma angafumma'aa fi maandhummaa isaaniititti, fuula isaa dura tetee'ane. Isaan baaseffatiisaan wol ilaalane.

³⁴ Qorii Yoseefii irraa sagalee fuudhanee isaaniif kennanee, Beniyaaminiif ammoo worra kaan caalaa harka shan kennane. Akka kanaan obboleeyyan Yoseefii isa woliin nyaatanee unanee guddoo gammadane.

44

Muduunuu Badde

¹ Yoseef toowataa mana ifii ajajee, «Namoota kanaaf midhaan haga qalqalluun isaanii qabatuu dandu'utti itti guutiif; beese tokko tokkoo isaaniille afaan qalqalluu isaanii keessa keyi.

² Muduunuu tiyya ta meetii irraa hujante, beese inni midhaaniin bitate woliin afaan qalqalluu mucaa maandhichaa keessa keyi» jedhe; toowataalle akkuma Yoseef itti hime godhe.

³ Barii ganamaan obboleeyyan sun harreelee ifii fudhatanee akka deemanu godhane.

[†] 43:24 Okeya: Waan horiin nyaatu. [‡] 43:31 Ifi qabatee: Ifi toowatee jechu'u.

⁴ Adoo isaan qachaa irraa hin fagaatin, Yoseef toowataa mana ifitiin, «Ka'ii namoota hordof! Yennaa isaan dhaqqadde, «Nuuti waan dansaa isiniif goone; isin maaf hantuu nu'uuf gootane?»

⁵ Muduunuun isin hattane ta goottaan kiyya itti uniisaa fi oojjuu hiikiisaaf itti fayyadamuu motii ree? Yakkaan isin hujjane tun guddo'o» jedhiin» jedhe.

⁶ Toowataan sun yennaa jara dhaqqabe, akkuma Yoseef jedhe isaanitti hime.

⁷ Isaan toowataa saniin, «Ati goottaa keenaa, maaf waan akkanaa dubbatta? Nuuti waan akkasii tokkolle hunyee hin jirru!»

⁸ Nuuti beesee qalqalluu keenaa keessatti dhaggineeyyuu biyya Kana'aaniitii finnee si'iif deebinneerra. Maarre nuuti mana goottaa keetii keessaa meetii yookiin worqii maaf hanna ree?

⁹ Ati yoo nu keessaa qalqalluu nama tokkoochaa keessatti muduunuu meeti'ii san dhaggite, inni du'uu ti; nuuti worri hafelle garboolee teeti hin teena» jedhane.

¹⁰ Toowataan sun, «Akkuma isin jettane teetuu ti; teetuu malee, nama muduunuu hate qofatti garbicha kiyya te'a. Isin worri hafe ammoo bilisaan deemuu dandeettan» jedhe.

¹¹ Achiin duuba isaan martinuu ariifatanee qalqalluu ifii lafatti gad buusanee hiikane.

¹² Toowataan mana Yoseefii sun qalqalluu angafichaa irraa jalqabee haga qalqalluu maandhichaattitti findigee keessa barbaadee, qalqalluu Beniyaaminii keessatti muduunuu dhagge.

¹³ Obboleeyyan yennaa tana dhaggite woyaa ifii tarsaatte. Achiin duuba qalqalluu ifii harre'etti fe'attee gara qacha'aa deebite.

¹⁴ Yihuda'aa fi obboleeyyan isaa yennaa gara Yoseefii deebi'anee dhufane, Yoseef ammalle achuma jiraayyu; tanaaf obboleeyyan isa duratti fuulaan lafatti gad jedhane.

¹⁵ Yoseef isaaniin, «Wonni isin gootane kun maan? Nami akka kiyyaa beekkumsa addaatiin woy qorqoree akka beeku hin beettanuu?» jedhe.

¹⁶ Yihudaan deebisee, «Nuuti goottaa kiyyaan maan jenna ree? Yakkaameyyii akka hin te'in attamiin ifi mudhisuu dandeenna ree? Waaqi yakkaa teenna mudhiseera; nama muduunuun irratti mudhatte qofa adoo hin te'in, nuuti martinuu garboota teeti hin teenna» jedhe.

¹⁷ Yoseef ammoo, «Ani ijjumaa tana hin godhu! Nama muduunuun irratti dhaggame qofatti garbicha kiyya te'a. Isin worri hafe nageyaan gara abbaa keessanii deebi'a'a» jedhe.

Yihudaan Beniyaaminiiif Kadhate

¹⁸ Achiin duuba Yihudaan gara Yoseefii dhagee, «Magganne'ee, goottaa kiyya, dubbii takka sitti dubbadha; ati qixxee mooticha Gibxi'ii teetulle natti hin mufatin.

¹⁹ Gootaa kiyya, ati tanaan qara, «Abbaa yookiin obboleeyyan qaddanii?» jettee nu gaafatte.

²⁰ Nuutille, «Abbaa jaarsa qanna. Obboleessa maandhicha abbaan keenaa dulluu keessa uumate qanna. Obboleessi ilma maandhicha kanaa du'eera; ijoollee haati isaa dheette keessaa ka jiru isa qofa waan te'eef, abbaan keenaa guddoo isa jaalata» jenneerraayyu.

²¹ Achiin duuba ati, nu'uun, «Akka ani ila tiyyaan isa dhaggu, isa gara kiyya fida'a. Ani isa dhagguu barbaada» jette.

²² Nuuti, «Mucaan abbaa ifii lakkisee dhufuu hin dande'u; yoo isa lakkisee dhufe, abbaan isaa hin du'a» si goottaa keennaan jenneerraayyu.

²³ Ati ammoo, «Isin yoo obboleessa keessan maandhicha hin fidin, deebitanee fuula kiyya hin dhaggitanu» nu'uun jetteerta.

²⁴ «Maarre nuuti gara abbaa keenaa deebinee gallee, waan ati jette isatti hinneerra.

²⁵ Achiin duuba, abbaan keenaa, «Ammalle deebi'a'aatii midhaan diqqaa isaa nuu bita'a» jedhe.

²⁶ Nuuti abbaa keennaan, «Obboleessi keenaa maandhichi yoo nu waliin hin deemin, fuula namichaa dhagguu hin dandeennu; tanaaf Obboleessi keenaa maandhich yoo nu waliin deeme malee, deemuu hin dandeennu» jenneen.

²⁷ Abbaan kiyyalle nu'uun, «Niitiin tiyya Raahel ilmaan lama akka naaf deette hin beettan.

²⁸ Isaan keessaa tokkochi na biraa haga bayee jalqabee, ani waan isa hin dhagginiif, dhugumaan bineensatti isa kukkutatee nyaateera jedhee yaade.

²⁹ Isin amma ilma kanalle na duraa fudhatanee, wonni hantuun yoo isa dhaqqadde, akka ani dulluu tiyya keessa gaddaan boolla seenu gootan» jedhe.

³⁰ «Maarre amma, gootta'a, ani obboleessa kiyya maandhicha waliin malee, gara abbaa kiyya tajaajilaa keetii yoo deebi'e, inni akka malee waan isa jaalatuuf,

³¹ akka inni nu waliin hin jirre yennaa dhagge hin du'a. Nuuti tajaajiltooti teetille abbaa keenaa tajaajilaa keeti dulluu keessa gaddaan akka boolla seenu goona.

³² Kana caalaalle ani abbaa kiyya duratti fayyaa muca'aatiif wobii te'ee, abbaa kiyyaan, «Ani mucaa keeti deebisee gara keeti yoo hin fidin, bara le'ii tiyyaa mara na komadhu» jedheera.

³³ Tanaaf maganne'ee, ani tajaajilaan keeti, addee muca'aa si goottaa kiyyaaf garbicha te'ee, asitti hafuu ti; mucaan ammoo obboleeyyan ifii waliin deebi'uu ti.

³⁴ Mucaan yoo na waliin hin jiraatin, ani attam gara abbaa kiyyaa deebi'uu dande'a ree? Ani gadda abbaa kiyya irratti dhufu san ossatiisa hin dande'u» jedhe.

45

Yoseef Eenummaa Ifi Obboleeyyan Ifititti Hime

¹ Achiin duuba Yoseef worra isa bira dhaabbatu mara duratti ifi qabatuu dadhabee, «Namoota mara na irraa gad baasa'a» jedhee ajaje; yennaa Yoseef obboleeyyan ifititti eennummaa ifi hime nami tokkolle isa waliin hin jiruuyyu.

² Worri Gibxi'iitii fi worri mana mootumma'aalle haga dhage'anutti Yoseef qoonqoo ol qabatee bowe.

³ Yoseef obboleeyyan ifitiin, «Ani Yoseef. Abbaan kiyya haga ammaa hin jiraa?» jedhe. Obboleeyyan isaa ammoo fuula isaa duratti guddoo waan sodaatteef deebii isaaf deebisuu hin dandeenne.

⁴ Achiin duuba Yoseef obboleeyyan ifitiin, «Gara kiyya dhikaadha'a» jedhe. Isaanille gara isaa dhikaatane. Innille isaaniin, «Ani obboleessa keessan Yoseef, ka isin gara biyya Gibxi'ii gurgurtane.

⁵ Waaqi lubbuu kolba'aa fayyisiisaaf, isiniin dura waan na ergeef, isin waan as na gurgurtaneef hin yaaddoyina'a yookiin ifitti hin aarina'a.

⁶ Lafa irratti beelti haga buuteen amma woggaa lama; woggaa shanan ammalle dhufu'uu jirtu keessatti hin qotatanu, hin haammatanulle'e.

⁷ Kolbaan hedduun akka fayyituuf jiruu teessan fayyisiisaan, sanyiin teessan lafa irratti akka hattuuf, Waaqi isiniin dura as na erge.

⁸ Maarre ka as na erge Waaqa malee, isinii moti. Waaqi qondaala ol aanaa mooticha biyya Gibxi'ii, itti gaafatamaa mana mootummaa mootichaatii fi lafa Gibxi'ii duudii irratti bulchaa* na godheera.

⁹ «Amma ariifadha'aa gara abbaa kiyyaa dhaqa'aatii, ilmi keeti Yoseef, «Waaqi lafa Gibxi'ii mara irratti bulchaa na godheera. Hin turinii na bira koy!

¹⁰ Lafa natti dhikaattu lafa Gooshenii keessa hin leeta; atii fi ijoolleen teeti, ijoolleen ijoollee teetii, hoole'ee fi re'een teeti, loon keeti, wonni ati qaddu martille natti hin dhikaatan.

¹¹ Ammalle woggooti beelaa shan waan hatteef, ati, maatiin teetii fi horiin keeti akka hin beelonne, ani Gooshenitti waan isinii barbaachisu hin godha» jedha'aatii itti hima'a.

¹² «Ani afaan kiyyaan akka isinitti dubbadhe, isinuu dhaggitaneertan, obboleessi kiyya Beniyaamille dhaggeera.

¹³ Biyya Gibxi'ii keessatti ulfinna guddaa attamii akka ani qabuu fi marroo waan dhaggitanee mara abbaa kiyyatti hima'a. Abbaa kiyyalle ariifadha'aa as fida'a» jedhe.

¹⁴ Achiin duuba inni morma Beniyaaminii obboleessa ifii hanqafatee bowe; Beniyaaminille morma isaa hanqafatee bowe.

¹⁵ Yoseef obboleeyyan ifii mara sunqatee itti bowe. Tanaan duuba obboleeyyan isaa isa woliin haasowane.

¹⁶ Oduun dhufiisa obboleeyyan Yoseefii mana mootumma'aatitti yennaa dhage'ante, mootichi Gibxi'iitii fi qondaaltoti isaa akka malee gammadane.

¹⁷ Maarre mootichi, Yoseefiin, «Obboleeyyan teetiin, «Geejjiba keessan fe'adha'aatii gara lafa Kana'aanii deebi'a'a.

¹⁸ Abbaa keessanii fi maatii teessan gara kiyya fida'a. Ani lafa Gibxi'ii keessaa ta irra caalaa dansa'aa isiniif hin kenna, isinille sagalee dansaa lafa sanii hin nyaattan» jedhi.

¹⁹ Dabalii isaan ajajiitii, «Garreettaa geejjibaa ka niitota teessan, ijoollee teessanii fi abbaa keessan itti feetanee fiddanu, biyya Gibxi'iitii fudhadha'aa deema'a.

²⁰ Biyya Gibxi'ii keessatti lafa irra caalaa dansa'aa waan dhaggattanuuf, karra teessan ta lakkittanee dhuttanuuf hin qucuucamina'a» jedhiin» jedhe.

²¹ Maarre ilmaan Yaaqoobii akkuma jedhame godhane. Akkuma mootichi ajaje, Yoseef garreettaa geejjibaatii fi ideensa kara'aatiif galaa isaaniif kenne.

²² Inni woyaa adduu tokko tokkoo isaaniitiifuu kenne; Beniyaamiiniif ammoo woyaa adduu shanii fi meetii dhibba sad kenne.

²³ Abbaa ifitiif waan dadansaa biyya Gibxi'iititti dhaggamanu fe'iisa harreele'ee kudhan, dabaleelle ideensa kara'aatiif galaa akka te'u midhaanii fi daabboo, sagalee dhibiille fe'iisa harreelee dhaltu'uu kudhan erge.

²⁴ Inni obboleeyyan ifii ergee, isaanille ka'aaranuun, inni, «Karaa irratti wol hin lolina'a!» isaaniin jedhe.

²⁵ Maarre isaan biyya Gibxi'iitii bayanee, lafa Kana'aanii keessatti gara Yaaqoobii abbaa ifi dhufane.

²⁶ Isaan, abbaa ifitiin, «Yoseef haga ammaa hin jira! Lafa Gibxi'ii duudii irrattiyyuu bulchaa te'eera» jedhane. Yaaqoob ammoo nayee gaggabe; inni dubbii isaaniille dhugeeffatiisa hin dandeenne.

* **45:8** *Bulchaa:* Afaan Ibrootaatiin gootaa jedha.

²⁷ Te'uu malee waan Yoseef isaaniin jedhe mara yennaa isaan itti himane, gara biyya Gibxi'ii akka ittiin isa fidanu garreettaa geejjibaa ka Yoseef ergelle yennaa dhagge bayyanate.

²⁸ Achiin duuba Yaaqoob, «Ilmi kiyya Yoseef haga ammaa jiraachuun isaa na geetti! Ani adoo hin du'in dhaqee isa dhagguu qaba» jedhe.

46

Yaaqoob Maatii Ifii Woliin Gara Biyya Gibxi'ii Dhaqe

¹ Maarre Yaaqoob waan qabu mara fudhatee gara biyya Gibxi'ii dhaqiisaaf ka'ee, Bersheebaa yennaa geye, Waaqa Yisihaqii abbaa ifitiif ciincaa dhi-keesse.

² Halkan Waaqi mudhi'iin, «Yaaqoob, Yaaqoob!» jedhee waame.

Yaaqoobille, «Ani kunoo as jira» jedhe.

³ Achiin duuba Waaqi, «Ani Waaqa; Waaqa abbaa keetii ti; ani achitti gosa guddoo waan si godhuuf, gara biyya Gibxi'ii dhaqiisa hin sodaatin.

⁴ Ani si woliin gara biyya Gibxi'ii hin dhaqa; sanyii teeti gara lafa tanaa deebisee hin fida. Yennaa ati duutu Yoseef harka ifitiin ila teeti wolitti siif hin qaba» jedhe.

⁵ Achiin duuba Yaaqoob Bersheeba'aa ka'e. Ilmaan isaalle abbaa ifii Yaaqoob, ilme'ee fi ibidda ifii garreettaa geejjibaa ka mootichi Gibxi'ii akka ittiin dhufanuuf ergetti yaassisane.

⁶ Isaan horii ifitii fi waan lafa Kana'aaniititti horatane mara fudhatanee gara biyya Gibxi'ii dhaqane. Akka kanaan Yaaqoob sanyii ifii mara woliin,

⁷ ilmaan ifitii fi ilmaan ilmaan ifii woliin, ijoollee durraa ta ilmaan ifitii fi maatii ifii mara woliin gara biyya Gibxi'ii dhaqe.

⁸ Israa'elooti gara biyya Gibxi'ii dhaqane, sanyiin Yaaqoobii ta asii gad jirtu. Ilma angaficha Yaaqoobii Ruubenii

⁹ fi ilmaan Ruubenii: Henok, Faluu, Hezronii fi Karmi.

¹⁰ Ilmaan Shimi'oonii: Yimu'el, Yaamiin, Ohad, Yaakiin, Zohaarii fi Shaawul; Shaawul dubartii worra Kana'aaniititti deye.

¹¹ Ilmaan Lewwi'ii: Gershoon, Qehaatii fi Meraar.

¹² Ilmaan Yihuda'aa: Eer, Onaan, Shela, Faaresii fi Zaara'a (Eerii fi Onaan ammoo lafa Kana'aanii keessatti du'ane). Ilmaan Faaresii: Hezronii fi Hamul.

¹³ Ilmaan Yisaakorii: Tolaa, Fuwaa, Yobii fi Shimroon.

¹⁴ Ilmaan Zebuloonii: Sered, Eloonii fi Yaahile'el.

¹⁵ Ilmaan Yaaqoobii ta Liyaan niitii isaa phaadaan-Aaramitti deetteef, intala isaa Dinaalle dabalatee, wolumatti ilmaan isaatii fi ilmaan ilmaan isaa soddonii sad.

¹⁶ Ilmaan Gaadii: Ziifiyon, Haagii, shunii, Esbon, Erii, Arodii, Ar'eli.

¹⁷ Ilmaan Asheerii: Yiimnaa, Yishwaa, Yishwii fi Berii'a; obboleettiin isaanii Sera'a; ilmaan Berii'aa: Heberii fi Malkii'el.

¹⁸ Isaan kudhanii jaa kun, ta Laabaan intala ifii Liya'aaf garbumma'aan kenne, Zilfaa irraa ka dhalatane, ilmaan ilmaan Yaaqoobii ti.

¹⁹ Ilmaan Raahelii niitii Yaaqoobii Yoseefii fi Beniyaamin.

²⁰ Biyya Gibxi'iititti Yoseef intala Phoxii-Feraa hayyicha Onii, Asenaati irraa Minaase'ee fi Efreem uumate.

²¹ Ilmaan Beniyaaminii: Bel'aa, Beker, Ashbel, Geraa, Na'amaan, Ehii, Roshii, Mufiim, Hufiimii fi Ardi'i.

²² Ilmaan Yaaqoobii worri Raahel deetteef kun ijoollee isaanii woliin wolumatti nama kudhanii afur.

²³ Ilmi Daanii Hushiim.

²⁴ Ilmaan Naftaalemii: Yaahize'el, Gunii, Yezerii fi Shiilem.

²⁵ Isaan torbaan kun, ta Laabaan intala ifii Raaheliif garbumma'aan kenne, Bilhaa irraa ka dhalatane, ilmaan ilmaan Yaaqoobii ti.

²⁶ Namooti Yaaqoob woliin gara biyya Gibxi'ii dhaqane, dubartoota ilmaan isaa adoo itti hin dabalini, sanyii isaa ka te'ane callaan namoota jaatamii jaa.

²⁷ Ilmaan lama ta biyya Gibxi'ii keessatti Yoseefiif dhalatte woliin laakkossi maatii Yaaqoobii torbaatama*.

Yaaqoob Biyya Gibxi'ii Geye

²⁸ Yaaqoob akka Yoseef Gooshen keessatti isa dhagguuf Yihudaa ifiin dura gara isaa erge. Yaaqoobii fi kolbaan isaa yennaa lafa Gooshenii geyane,

²⁹ Yoseef abbaa ifii Yaaqoob qophatiisaaf garreettaa fardaa qopheeffatee, Gooshen dhaqe. Yoseef akkuma abbaa ifii dhaggeen, morma isaatitti maratee, yennaa dheertu'uuf bowe.

³⁰ Yaaqoob Yoseefiin, «Haga ammaa akka ati lubbu'uun jirtu waan dhaggeef, ani amma du'ulle hin qoru!» jedhe.

³¹ Achiin Yoseef obboleeyyan ifitii fi maatii abbaa ifitiin, «Ani ol deemee mootichaan, Obboleeyyan tiyyaa fi maatiin abbaa kiyyaa ka lafa Kana'aanii turane gara kiyya dhufaneeran.

³² Isaan worra horii tissu; isaan duruuyyuu horii horsiisaa turane. Ammalle hoole'ee fi re'ee ifii, loon ifitii fi waan qabanu maraayyuu fidatane dhufaneeran» jedhaan.

³³ Mootichi isin waamee, «Hujiin teessan maan?» jedhee yennaa isin hin gaafate,

³⁴ isin, «Nuuti garbooti teeti akkuma abbootii teenna ta durii, ijoollummaa teennaa jalqannee tissitoota horii'ii ti» jedha'aan. Tana yennaa jettane, worri Gibxi'ii tissitoota waan tuffatanuuf, lafa Gooshenii keessa le'iisaaf eeyyama hin dhaggatan» jedhe.

47

¹ Yoseef gara mooticha Gibxi'ii dhaqee, «Abbaan kiyyaa fi obboleeyyan tiyya, hoolotaa fi re'oota ifii, horii ifitii fi waan qabanu mara woliin lafa Kana'aaniitii dhufaneeran. Isaan amma lafa Gooshenii keessa jiran» jedhe.

² Inni obboleeyyan ifii keessaa nama shan filee mooticha dura dhikeesse.

³ Mootichi, «Hujiin teessan maan?» jedhee obboleeyyan Yoseefii gaafate.

Isaan deebisane, «Nuuti, tajaajiltooti teeti, akkuma abbootii teenna ta durii, horsiittuu hoole'ee ti.

⁴ Lafa Kana'aanii keessa beelti waan jabaatteef, horiin keennalle marra dheedu waan dhabeef, nuuti yenna'aaf as le'iisaaf dhunneerra. Tanaaf maganne'ee, lafa Gooshenii keessa akka leenu nuu eeyyami» jedhane.

⁵ Achiin duuba Mootichi Gibxi'ii Yoseefiin, «Abbaan keetii fi obboleeyyan teeti eega sii dhufanee,

⁶ Latti Gibi'ii kunoo harka keeti jirti; biyya Gibxi'ii keessaa lafa irra caalaa dansa'aa Gooshenitti isaan qussiisi. Isaan keessaa dandeettii addaa ka qabanu yoo jiraatane, horii kiyya irratti itti gaafatantoota godhi» jedhe.

⁷ Achiin duuba Yoseef abbaa ifii Yaaqoob ol seensisee mooticha dura dhikeesse; Yaaqoobille mooticha eebbise.

⁸ Achiin duuba mootichi, «Woggaan teeti meeqa?» jedhee Yaaqoob gaafate.

⁹ Yaaqoobille, «Ani asii fi achi daaqaa woggaa dhibbaa fi soddoma tureera. Woggooti sunille abbootiin tiyya ta durii asii fi achi daaqaa ta turte caalaa diqqo'oo fi rakkinnaan ta guutante» jedheen.

* **46:27 Torbaatama:** Addee dhibi'itti 75 jedha. HuE. 7:1.

¹⁰ Achiin duuba Yaaqoob mooticha eebbisee biraa deeme.

¹¹ Maarre Yoseef akkuma mootichi ajaje abbaa ifiitii fi obboleeyyan ifii lafa Gibxi'ii keessaa addee irra dansa'aa, qachaa Raamsesii bira lafa kenneef.

¹² Yoseef abbaa ifii, obboleeyyan ifiitii fi worra mana abbaa ifii maraaf, akkuma laakkossa nama harka isaanii eegatuutitti sagalee isaaniif kenne.

Beela Biyya Gibxi'ii Keessaa

¹³ Lafa duudii keessa beelti waan jabaatteef, wonni nyaatanu dhabame; kolbaan Gibxi'iitii fi Kana'aanii beelaan guddoo miidhante.

¹⁴ Yoseef beesee namooti biyya Gibxi'iitii fi Kana'aanii ittiin midhaan bitatane mara wolitti qabee, gara mana mootummaa mooticha Gibxi'ii fide.

¹⁵ Beeseen worra Gibxi'iitii fi Kana'aanii yennaa dhumatte, worri Gibxi'ii martinuu gara Yoseefii dhufee, «Nuuti maaf ila teeti duratti duuna? Beeseen teenna dhumatteerti. Sagalee nuu kenni» jedhane.

¹⁶ Yoseef deebisee, «Beeseen isin duraa yoo dhumatte, horii keessan fida'a! Ani jijjiirraa isaanii midhaan isiniif hin kenna» jedhe.

¹⁷ Maarre kolbaan horii ifii gara Yoseefii fiddee, inni jijjiirraa fardoo, hoolee, re'ee, loonii fi harree isaaniitiif sagalee isaaniif kenne. Woggaa san inni jijjiirraa horii isaanii maraaf sagalee isaaniif kenne.

¹⁸ Woggaa sun yennaa dabarte, woggaa itti aantu isaan gara isaa dhu-fanee, «Beeseen teenna akka dhumatte, horiin keennalle keeti akka te'e, si gootaa keenna hin dhossinu; nafaa fi lafa teenna malee, wonni nuuf hafe tokkolle hin jiru.

¹⁹ Nuutii fi latti teennalle ila teeti duratti bannaa ree? Nu'uu fi lafa teennalle bitadhuutii sagalee nuu kenni; nuuti lafa teenna woliin mootichaaf garboota hin teena. Nyaannee jiru'uun akka leenuuf midhaan nuu kenni; latti teennalle duwwaa akka hin teene sanyii facaafannu nuu kenni» jedhane.

²⁰ Maarre Yoseef lafa biyya Gibxi'ii mara mootichaaf bite. Beelti waan jabaatteef, nami Gibxi'ii martinuu lafa ifii Yoseefitti gurgure; Lattille qabeenna mootichaa teete.

²¹ Yoseef biyya Gibxi'ii qacce'ee haga qacce'eetitti kolbaa garboota mooticha Gibxi'ii godhe.

²² Yoseef lafa hayyootaa callaa hin binne; hayyooti durgoo yennaa mara mooticha irraa waan fudhatanuuf, isaan lafa ifii hin gurgurre.

²³ Yoseef kolba'aan, «Ani amma isinii fi lafa teessan mootichaaf waan biteef, kunoo ani sanyii isiniif hin kenna, fichaa keessanitti facaafadha'a.

²⁴ Ammoo yennaa midhaan galutti, harka shan keessaa tokko mootichaaf hin kennitan. Harka afur ka hafe sanyi'iif, sagalee teessaniif, sagalee worra keessaniitii fi ijoollee teessanii te'uu ti» jedhe.

²⁵ Isaan deebisane, «Ati lubbuu teenna hamburteerta; gootta'a, si'uma duratti fudhatama dhagganuu ti; nuuti garboota mootichaa hin teena» jedhane.

²⁶ Maarre Yoseef biyya Gibxi'ii keessatti harka shan keessaa tokko mootichaaf akka kennamu seera haga adhaa jiru tume. Latti qabeenna mootichaa hin te'in lafa hayyootaa qofa.

Dhaamata Yaaqoobii Ka Muumme'ee

²⁷ Israa'elooti biyya Gibxi'ii lafa Gooshenii keessa le'ane. Isaan achitti qabeenna dhaggatane, ijoollee horanee laakkossaan bacatane.

²⁸ Yaaqoob biyya Gibxi'ii keessa woggaa kudhanii torba le'e; woggaa isaalle dhibba tokkoo fi afurtamii torba teete.

²⁹ Yennaan Yaaqoob du'u dhikaannaan, inni ilma ifii Yoseef gara ifii waamee, «Ani si duratti fudhatama yoo qabaadhe, harka keetiin gudeeda kiyya qabadhuu akka biyya Gibxi'ii keessatti na hin awwaalle naaf kakadhu.

³⁰ Yennaa ani du'e, biyya Gibxi'ii keessaa fuudhii na baasiitii, addee abbootiin tiyya itti awwaalamanetti na awwaali» jedheen.

Yoseef deebisee, «Ani akkuma ati jette hin godha» jedhe.

³¹ Yaaqoob, «Anaaf kakadhu» jedheen; Yoseefille akka tana godhu kakate. Achiin duuba Yaaqoob mataa taqee ifii irratti Waaqaaf sagade.

48

Yaaqoob Ilmaan Yoseefii Eebbise

¹ Yennaa diqqo'oon duuba, «Abbaan keeti dhibameera» jedhanee Yoseefitti himane. Maarre inni ilmaan ifii lamaan Minaase'ee fi Efreem fudhatee gara abbaa ifii dhaqe.

² Yennaa, «Ilmi keeti Yoseef gara keeti dhufeera» jedhanee Yaaqoobitti himane, inni ifi jajjabeessee, ol jedhee taqee ifii irra tee'e.

³ Yaaqoob, Yoseefiin, «Waaqi waan mara dande'u, lafa Kana'aanii keessa, addee, «Luz» jedhantutti natti mudhatee na eebbisee,

⁴ «Ani si horsiisee si hin baceessa. Abbaa kolbaa heddu'uu si hin godha; lafa tana haga bara baraa sanyii teetiif hin kenna» anaan jedhe.

⁵ «Tanaaf ilmaan teeti lamaan, ta adoo ani gara keeti achi hin dhufiniin dura biyya Gibxi'ii keessatti sii dhalatte, amma tiyya; Efreemii fi Minaaseen akkuma Ruubenii fi Shimi'oonii kiyya hin te'an.

⁶ Ijoolleen ati isaaniin duuba uumatte keeti hin te'an; isaan dhaala ifii maqaa obboleeyyan ifii Efreemiitii fi Minaase'eetiin dhaggatan.

⁷ Yennaa ani phaadaan-Aaramii deebi'u biyya Kana'aanii keessatti Efraataa geyaaruun, Raahel kara'atti na duraa duutee, karaa Efraataa dhaqu cina'atti awwaale» jedhe. Efraataan amma, «Betlehem» jedhama.

⁸ Yaaqoob yennaa ilmaan Yoseefii dhagge, «Isaan kun eennu fa'a?» jedhee gaafate.

⁹ Yoseef deebisee abbaa ifitiin, «Isaan ilmaan tiyya ta Waaqi as biyya tanatti naaf kenne» jedhe.

Yaaqoob, «Akka ani isaan eebbisu gara kiyya fidi!» Yoseefiin jedhe.

¹⁰ Yennaa tana Yaaqoob waan dulloomeeruuf ilti isaa caararroottee, hubatee dhagguu hin dandeenne. Maarre Yoseef ilmaan ifii gara isaa fide; innille hanqafatee sunqate.

¹¹ Yaaqoob, Yoseefiin, «Ani deebi'ee ijumaa si dhagga jedhee hin yaadanne; amma Waaqi ijoollee teetiyyuu na dhaggisiise» jedhe.

¹² Achiin duuba Yoseef jilba abbaa ifii irraa isaan kaasee, inni ifiif lafatti gad gombifame.

¹³ Yoseef ilmaan ifii lamaanuu fuudhee, Efreem midda ifitiin Yaaqoobiif gara bita'aatiin, Minaasee bitaa ifitiin Yaaqoobiif gara middaatiin itti dhi-keesse.

¹⁴ Yaaqoob ammoo harka ifii wol qaxxaamursee harka ifii middicha mataa Efreemii maandhichaa irra, harka ifii bitaacha mataa Minaasee angafichaa irra keye.

¹⁵ Achiin duuba inni Yoseef eebbisee,
«Waaqi abbootiin tiyya

Abrahaamii fi Yisihaq tajaajilte
jiruu tiyya mara haga adhaa
ka na eege.

¹⁶ Ergamaan miidhaa mara irraa na wode
inni ijoollee tana eebbisuu ti.

Maqaa kiyya,
maqaa abbootii tiyyaa
Abrahaamii fi Yisihaqii waansisanees,
lafa irrattille
horanee bacatanuu ti» jedhe.

¹⁷ Yoseef yennaa abbaan isaa harka ifii middicha mataa Efreemii irra
keyeeruun dhagge itti hin gammanne; maarre inni harka abbaa ifii mataa
Efreemii irraa gara mataa Minaase'ee dabarsiisaaf qabe.

¹⁸ Yoseef abbaa ifitiin, «Abbaa kiyya, akkasii moti! Kun angaficha waan
te'eef, harka keeti middicha mataa isaa irra keyi!» jedhe.

¹⁹ Abbaan isaa ammoo didee, «Ani hin beeka, ilma kiyya, ani hin beeka.
Sanyiin Minaase'eelle kolbaa guddoo hin teeti; te'uu malee, obboleessi isaa
maandhich isa hin caala; sanyiin isaalle kolbaa biyya adda addaa guddoo
hin teeti» jedhe.

²⁰ Maarre inni guyyaa san isaan eebbisee,
«Israa'elooti, «Waaqi akka Efreemii fi Minaase'ee si godhuu ti» jedhanee
maqaa keetiin nama hin eebbisan» jedhe.

Akkasiin Yaaqoob Efreem Minaase'een dura aanse.

²¹ Achiin duuba Yaaqoob Yoseefiin, «Kunoo, ani du'aara; Waaqi ammoo si
woliin jiraatee gara lafa abbootii teetii si hin deebisa.

²² Ani ka obboleeyyan teeti woliin qoodantane caalaa, lafa dansaa
Shekemii ta shallaaga'aa fi guubee worra Amoorotaa irraa fudhadhe si'iif
hin kenna» jedhe.

49

Jecha Yaaqoob Muummee Irratti Ilmaan Ifiititti Dubbate

¹ Achiin duuba Yaaqoob ilmaan ifii waammatee, «Waan gara duraa isinitti
dhufu akka isinitti himuuf, wolitti dacha'a'a!

² «Ilmaan Yaaqoobii, wolitti dacha'a'aa dhage'a'a;
abbaa keessan Yaaqoob dhage'a'a.

³ «Ruuben, ati ilma kiyya angaficha,
hunna tiyyaa fi jabeenna kiyya ka qaraa ti;
ulfinnaa fi hunnaan ilmaan tiyya mara hin caalta.

⁴ Te'uu malee, ati ka akka bisaanii daaquu waan teeteef,
obboleeyyan teeti hin soressitu;
rifanoo abbaa keetii irra waan baateef,
dubartoota gursumeeyyii abbaa keetii woliin ratteerta.

⁵ «Shimi'oonii fi Lewwiin obboleeyyan;
shallaagaan isaanii
meya isaan hunnaan nama irratti ka'anuu.

⁶ Isaan aari'iin namoota waan ijjeesaneef,
taphaaf jedhanee korommii waan mogolchaneef,
ani marii isaaniititti hin galu;
yaa'ii isaaniille hin qoodamu.

⁷ Aariin isaanii jadduu,
muufin isaanii gadhi-jabeettii waan teeteef,
ta abaarante teetuu ti!
Ani gosa Yaaqoobii odduu isaan qoqoodee

Israa'el keessa isaan hin bittinneessa.

- 8 «Yihuda'a, obboleeyyan teeti si hin leellisan;
ati diina keeti hin injifatta;
ilmaan abbaa keetii si duratti gad hin jedhan.
- 9 Ilmi kiyya Yihudaan akka ilmee neenqaa,
ta adamo'oo gara mandhee ifii deebituu ti.
Akk neenqaa diriirfatee irkata;
eentu isa kaasiisaaf itti guula?
- 10 Ka kolbaan duudiin ajajantuuf,
haga bara baraa ka bulchu,
ka mootummaan isaaf malte, haga dhufutti,
bokkuun harka Yihuda'aatii hin baatu.
Mootoleen maatii Yihuda'aa irraa hin dhufan;
nami tokko Yihudaa irraa yennaa mara
barcumaa mootumma'aa irra hin tee'a.
Ka mootummaan isaaf malte haga dhufutti
Yihudaan hin bulcha;
gosi biyya adda addaalle isaaf hin ajajaman.
- 11 Inni woynii bacaa qaba;
harree ifii muka woyni'iititti,
ilmayyoo harree ifii woynii filatantetti hidhata.
Inni woyaa ifii daadhii woyni'iitiin,
bullukkoo ifii dhiiga midhaan woyni'iitiin dhiqata.
- 12 Ilti isaa daadhii woyni'ii caalaa diimatti;
ilkaan isaa aanan caalaa addaata.
- 13 «Zebuloon qargara abbaaya'aa hin le'a;
qargarri abbaaya'aa ka isaa sun
lafa buufata hoboloota gugurddo'oo hin te'a.
Meessaan lafa isaa Sidoon hin te'a.
- 14 «Yisaakor akka harree jadduu,
wodhakkaa fe'iisaa ciittuu ti.
- 15 Ammoo addeen isaa ta fooraa dansaa,
latti isaalle
attam akka gammachiittu yennaa dhagge,
fe'amiisaaf dudda ifii cillaaffatee garba te'a.
- 16 «Daan kolbaa ifii
gosa Israa'elii keessaa takkattii hin bulcha.
- 17 Daan akka dhudhuufaa karaa irgaa,
akka buutii daandii cina'aa,
ta kottee fardaa idditee
nama irra tee'eeru irraa buuttuu ti.
- 18 «Ee Mootii Waan Maraa,
ani fayyisiisa keeti eegadha.
- 19 «Saantuun Gaad hin miiti;
inni ammoo deebisee isaan hin miidha.
- 20 «Latti Asheerii sagalee dansaa bacaa kenniti.
Inni sagalee mootichaaf teetu hin kenna.

- 21 «Naftaalem akka ilmee dansaa gadansaa bilisa;
inni jechoota dadansaa dubbata.
- 22 «Yoseef akka muka woyni'ii midhaanicha,
madda bira jiru,
ka dameen dalleya irra baatuu ti.
- 23 Worri daaya qabatu isa duchiisane,
diinumma'aan daaya itti gad lakkisan.
- 24 Ammoo hunna Waaqa Yaaqoobiitiin,
maqaa tissee jabaa Israa'eliitiin,
guubeen isaatii fi irreen isaa hin jabaatti.
- 25 Waaqi abbaa keetii ka si qarqaaru,
Waaqi waan mara dande'u,
rooba gubba'aatiin,
madda golbaatiin,
horii heddu'uu fi
ijoollee hedduu kenniisaan si eebbisu.
- 26 Eebbi abbaa keetii
waan eebba gaarota bara duriitii jalqabanee jiranuu fi
kooba bara baraa irraa dhagganu caala.
- Eebbi kun marti mataa Yoseefii,
ka obboleeyyan ifii irraa adda baye
surrii isaa irratti bu'uu ti.
- 27 «Beniyaamin akka yayyii beelottee ti;
ganamaan waan adanse nyaata;
galgala waan booji'e qoqooda» jedhe.
- 28 Gosi Israa'elii kudhanii lama isaan kana. Abbaan isaanii eebba isaaniif
te'uun tokko tokkoo isaanii yennaa isaan eebbise, wonni isaaniin jedhe tana.

Du'aa Fi Awwaalama Yaaqoobii

- 29 Achiin duuba Yaaqoob, isaan gorse, «Ani du'uu geyeera; isin abbootii tiyya woliin goda fichaa Efronii namicha biyya Heetii keessatti na awwaala'a.
- 30 Godi sun lafa Kana'aanii keessa, Mamree irraa gara aduun baatu, fichaa Makfela'aa keessa jirti; Abrahaam fichaa godi awwaalaa tun keessa jirtu, addee awwaalaatiif Efronii heeticha irraa bitate.
- 31 Abrahaamii fi niitii isaa Saaraa achitti awwaalane; Yisihaqii fi niitii isaa Ribqaa achitti awwaalane; anille Liyaa achitti awwaale.
- 32 Fichaan sunii fi godi fichaa san keessaa sun namoota biyya Heetii irraa bitamane» isaaniin jedhe.
- 33 Yaaqoob ilmaan ifiititti gorse yennaa fixe, miila ifii taqee irratti ol deebifatee, du'ee, gara kolbaa ifii ta addee dhuga'aa jirtuu gale.

50

Awwaalama Yaaqoobii

- 1 Yennaa Yaaqoob du'e, Yoseef fuula abbaa ifii irratti jige itti bowee sungate.
- 2 Achiin duuba Yoseef tajaajiltoota ifii ogeeyyii qorsaa, akka reeffa abbaa isaa qorsaan sukkuumanee gossanu ajaje. Maarre ogeeyyiin qorsaalle akkuma Yoseef ajaje godhane.

³ Reeffa qorsaan sukkuumanee gossuun, guyyaa afurtama waan fud-hatuuf, isaan guyyaa afurtamatti hobbaasane. Worri Gibxi'iille guyyaa torbaatama isaaf bowe.

⁴ Isaan yennaa nageeffatane, Yoseef qondaaltota mootichaatiin, «Ani yoo isin duratti fudhatama dhaggadhe, maganne'ee mootichaan,

⁵ «Abbaan kiyya yennaa du'a geyeeru, addee awwaalaa ta inni ifiif qophe-effate, lafa Kana'aanii keessatti akka ani isa awwaalu na kakachiiseera; tanaaf maganne'ee, dhaqee abbaa kiyya awwaaladhee deebi'a» jedha'aatii naaf hima'a» jedhe.

⁶ Mootichi deebisee, «Akkuma inni si Kakachiise, dhaqiitii abbaa keeti awwaali» jedheen.

⁷ Maarre Yoseef abbaa ifii awwaaliisaaf dhage. Qondaaltoti mootichaa marti, jaarsoleen mana mootummaa isa keessa jiranuu fi jaarsoleen lafa Gibxi'ii marti Yoseef woliin dhaqane.

⁸ Akkasuma maatiin Yoseefii, obboleeyyan isaatii fi maatiin abbaa isaa duudiin isa woliin dhaqane. Ijoollee didiqqoo, re'ee, hoole'ee fi loon isaanii qofatti lafa Gooshenii keessatti hafe.

⁹ Worri garreettaa fardaatii fi abbootiin fardaalle isa woliin dhaqane. Gobbuun sun akka malee guddo'o.

¹⁰ Isaan laga Yordaanosiitiin gama eeddummaa Axaadii bira yennaa geyane, abbaa ifitiif wiiccifatanee bowane; Yoseef achitti guyyaa torba abbaa ifitiif boochise.

¹¹ Worri lafa Kana'aanii keessa le'anuu bowicha namoota eeddummaa Axaadii biraa dhagganee, «Worri Gibxi'ii bowiisa guddaa bowiisatti jiran!» jedhane, maqaa addee sanii, «Abeel-Miizraayim» jedhane baasane; hiikkaan afaan Ibrootaatiin, «Bowa worra Gibxi'ii» jechu'u. Addeen sun laga Yordaanosiitiin gamatti dhaganti.

¹² Maarre ilmaan Yaaqoobii akkuma inni isaan ajaje godhane;

¹³ ilmaan isaa reeffa isaa lafa Kana'aaniititti geessanee, goda awwaalaa ta fichaa Makfela'aa keessatti, ta Mamree irraa gara aduun baatu jirtutti awwaalane. Goda awwaalaa tana Abrahaam addee awwaalaa akka teetuuf Efronii namicha biyya Heetii irraa bitate.

¹⁴ Yoseef abbaa ifii awwaaleen duuba, obboleeyyan isaatii fi worra abbaa isaa awwaaliisaaf isa woliin deemanee mara woliin gara biyya Gibxi'ii deebi'e.

Yoseef Obboleeyyan Ifii Jajjabeesse

¹⁵ Yaaqoob du'een duuba, Obboleeyyan Yoseefii, «Yoseef haluu qabatee, waan hantuu nuuti isa irratti hunye maraaf haluu nu bayinaa?» jedhane.

¹⁶ Maarre isaan ergaa gara Yoseefii erganee, «Abbaan keeti adoo hin du'in dura nu ajajee,

¹⁷ «Yakkaa obboleeyyan teetiitii fi balleessaa isaan hujanee si miidhane, isaaniif lakkis» jennee akka sitti hinuu nutti himeera; tanaaf amma nu tajaajiltooti Waaqa abbaa keetii yakkaa nuuti si yakkine mara maganne'ee nuu lakkis!» jedhane. Yoseef yennaa ergaa tana dhage'e bowe.

¹⁸ Achiin duuba obboleeyyan isaalle dhufanee, isa duratti jigane, «Nuuti garboota teeti» jedhane.

¹⁹ Yoseef ammoo, «Hin sodaatina'a! Ani bakka Waaqaa hin bu'u.

²⁰ Isin hantuu na godhiisaaf mala dhoothane; Waaqi ammoo gara waan dansa'aa jijjiire; inni lubbuu namoota heddu'uu ka ammaa fayyisiisaaf tana godhe.

²¹ Maarre hin sodaatina'a. Ani isinii fi ijoollee teessaniif waan barbaachisu hin kenna» jedhe. Yoseef gadhi-laafinnaan obboleeyyan ifiititti dubbatee isaan jajjabeesse.

Du'a Yoseefii

²² Yoseefii fi maatiin abbaa isaa biyya Gibxi'ii keessa turane. Yoseef woggaa dhibbaa fi kudhan le'ee du'e.

²³ Yoseef ijoollee Efreemiitii fi ijoollee ijoollee Efreemii dhagge. Akkasuma ijoollee Maakiirii ilma Minaase'eelle akka ijoollee ifiititti laakkowate.

²⁴ Achiin duuba Yoseef, obboleeyyan ifitiin, «Ani du'aara. Waaqi ammoo isin woliin hin jiraata. Inni lafa tana keessaa gara lafa Abrahaamiif, Yisihaqii fi Yaaqoobiif waadaa galetti isin hin deebisa» jedhe.

²⁵ Maarre Yoseef ilmaan Yaaqoobiitiin, «Waaqi dhugumaan isin woliin hin jiraata; yennaa inni gara lafa sanii isin deebisu, lafee tiyya asii fuutane akka deentanu naaf kakadha'a» jedhe.

²⁶ Yoseef woggaa dhibbaa fi kudhani tti du'e. Isaan reeffa isaa qorsaan sukkuumanee gossanee, biyya Gibxi'ii keessatti saanduqa keessa keyane.

Kitaaba Seera Bayiisaa Seensa

Kitaab seera bayiisaa kun kolbaan Israa'elii biyya Gibxi'ii ta garbummaa'aan keessa leete keessaa attam akka baate odeessa. Kitaab kun kutaa afur ifi keessaa qaba. 1. Garbummaa jalaa bayiisa worra Ibrootaa. 2. Ideemiisa gara gaara Siina'aa. 3. Gondooroo Waaqi kolbaa ifii waliin gaara Siina'aa irratti gondooree fi seera Waaqaa, seera kolbaan ittiin bultuu fi seera dhugeeffanna'aa attam akka isaaniif kenne odeessa. 4. Seera Dunkaanii Woyyittii ijaariisaatii fi seeraa meya Dunkaanii Woyyitti'ii hujiisaa, seera marroo hayyootaati fi seera marroo Waaqa Waaqonfatiisaa odeessa. Kolbaa ifii biyya Gibxi'ii keessaa baasiisaaf, nama keessaa nami Waaqi filate Muuse'e. Irra caalaa kutaan kitaaba kana keessatti beekamu foora 20 ka ajaji kudhan keessatti barreeffame.

Haadhoo Dubbi'ii

Israa'el Biyya Gibxi'ii Keessaa Bilisa Baate1:1–15:21

Garbummaa biyya Gibxi'ii Keessaa1:1-22

Dhaloota Muuse'eetii Fi Attam Akka Inni Guddate2:1–4:31

Muuse'ee Fi Aaron Mootii Biyya Gibxi'ii Dura Dhaabbatane5:1–7:13

Waaqi balaa biyya Gibxi'ii ititti buuse: 7:14–11:10

Jila Irra Dabaramaatii Fi Biyya Gibxi'ii Keessaa Bayiisa12:1–15:21

Abbaayaa Diintuu Irraa Haga Gaara Siina'aa15:22–18:27

Seeraa Fi Gondooroo19:1–24:18

Dunkaanii Woyyitti'ii fi Qajeelfama Waaqa Waaqonfatiisaa25:1–40:38

Kolbaan Israa'elii Biyya Gibxi'ii keessatti Cunqurfante

¹ Ilmaan Yaaqoobii ka «Israa'el» jedhamane, worri maatii ifi waliin gara biyya Gibxi'ii deemane maqaan isaanii asii gad jira:

² Ruuben, Shimi'oon, Lewwii, Yihudaa,

³ Yisaakor, Zebuloon, Beniyaamin,

⁴ Daan, Niftaalem, Gaadi fi Asheer fa'a.

⁵ Laakkossi sanyii Yaaqoobii wolumatti torbaatama; ilmi isaa Yoseef isaaniiin duraayyuu biyya Gibxi'ii keessa jira.

⁶ Barri isaanii geennaan Yoseef, obboleeyyan isaatii fi dhalooti sun marti du'ane.

⁷ Sanyiin Israa'elii ka achitti hafane ammoo horanee guddoo bacatanee, lafa Gibxi'ii guutane.

⁸ Achiin duuba mootiin haarenni ka marroo Yoseefii hin beenne biyya Gibxi'ii irratti mootii te'e.

⁹ Inni kolbaa ifitiin, «Kunoo, Israa'elooti guddoo bacatanee nu caaliisatti jiran.

¹⁰ Laakkossi isaanii akka hin bacanne, lolli yoo ka'e diina keenna waliin nu lolanee biyyaa akka hin baane godhiisaaf kowa'a mala itti dhoonna» jedhe.

¹¹ Tanaaf worri Gibxi'ii kolbaa Israa'elii cunqursiisaaf, worra hujii hunnaa isaan hujisiisu itti filane. Israa'elooti qachaa woy itti kuufatanu Fiitoomii fi Raamses mooticha Fara'ooniif ijaarane.

¹² Te'uu malee akkuma worri Gibxi'ii irra caalaa Israa'eloota cunqursuun isaanille irra caalaa bacatanee lafa guutane; tanaaf, worri Gibxi'ii akka malee Israa'eloota sodaatane.

¹³ Worri Gibxi'ii Israa'elootatti gadhaa jabaatanee akka garbaatitti hujii hunnaa hujisiifatane.

¹⁴ Hujii jajjadduu faara loobiisaatii fi simintoo hujiisaatiin, hujii adda addaa ta fichaa keessaatiin, hujii hunnaa jajjadduu ifii mara gadhaa itti jabaatanee hujisiisanee jireenna itti hadheessane.

¹⁵ Achiin duuba mootiin Gibxi'ii worra dubartoota Ibrootaa deeysiisanu, ka, «Siifraa fi Phuwaa» jedhamanuun,

¹⁶ «Yennaa dubartoota Ibroota deeysiittanu annuun dhalatu dhiira yoo te'e yennuma san ijjeesa'a, durra yoo teete ammoo hin ijjeesina'a» jedhe.

¹⁷ Deeysiittooti sun ammoo Waaqa waan sodaataneeff, akka mootiin Gibxi'ii isaan ajaje san hin goone; annoolee dhiiraalle hin ijjeenne.

¹⁸ Maarre Mootiin Gibxi'ii deeysiittoota san waamee, «Maaf akkas gootane? Annoolee dhiiraa maaf ijjeesuu dhaddane?» jedhee gaafate.

¹⁹ Isaanille deebisanee, «Dubartooti worra Ibrootaa akka dubartoota worra Gibxi'iitii moti; isaan jajjaba waan te'aneef, adoo deeysiittooti isaan bira hin geyin deyan» jedhane.

²⁰ Maarre Waaqi deeysiittoota saniif waan dansaa godhe; kolbaan Is-raa'eliille irra caalaa bacatte.

²¹ Worri deeysiittootaa sun Waaqa waan sodaataneeff, tokko tokkoo isaaniitiif maatii kenne.

²² Achiin duuba mootichi, «Ijoollee dhiiraa ta Ibrootaa ta dhalattu mara fuudha'aatii laga Nayiliititti gata'a, ijoollee durraa ta dhalattu ammoo hin gatina'a» jedhee kolbaa ifii mara ajaje.

2

Dhalatiisa Muuse'ee

¹ Bara san namichi sanyii Lewwi'ii tokko dubartii sanyii Lewwi'ii fuudhe;

² isiille ulfoottee ilma isaaf deette. Ilmi dhalate sun miidhagaa akka te'e yennaa dhaggite haga ji'a sadii isa dhossite.

³ Haga san caalaa dhossuu yennaa dadhadde ammoo, saaxaraa allaaduu irraa hujame tokko fuutee, akka bisaan keessa hin seenne leyyaa lafa keessaa dhaggamuun duuchite; achiin duuba annuu san keessa irkittee allaaduu qarqara laga Nayilii odduu keette.

⁴ Obboleettiin annuu sanii ammoo waan inni te'u ilaaliisaaf irraa fagaattee dhaabbatteertiyyu.

⁵ Achiin duuba intalti mooticha biyya Gibxi'ii dhiqatiisaaf gara laga Nayilii dhutte; yennaa san dubartooti isii tajaajiltu laga san qarqara deddeemiisatti jiraniyyu. Isiille saaxaraa allaaduu odduu jiru dhaggitee, tajaajiltittii ifii ergitee akka saaxaraa san fiddu goote.

⁶ Isiin yennaa saaxaraa san bante annuu keessatti dhaggite. Annuun waan bowiisatti jiruuf, isaaf gadditee, «Kun annuu Ibrootaa ti» jette.

⁷ Achiin duuba obboleettiin isaa intala Mootichaatiin, «Annuu kana akka hoosittee si'iif guddittu dubartoota Ibrootaa keessaa takkattii dhaqee si'iif waamuu?» jette.

⁸ Isiille, «Ee! Dhaqii waami!» jetteen. Maarre intaltille dhaxxee haadhuma annu'uu fidde.

⁹ Intalti mootichaalle isi'iin, «Annuu kana fuudhiitii hoosisii naaf guddisi; anille si'iif hin kaffala» jette. Maarre isiille annuu san fuutee hoosittee gudditte.

¹⁰ Mucaan sun yennaa guddate, isiin gara intala mootichaa isa geessite; innille isi'iif ilma te'e. Isiille bisaan keessaa waan isa baacheef, maqaa isaa «Muusee» jette.

Muuseen Gara Lafa Miidiya'aa Baqate

¹¹ Muuseen guddateen duuba guyyaa tokko addee kolbaan isaa jirtu dhagee hujii hunnaa jajjadduu hujanuun dhagge. Nami Gibxi'ii tokko kolbaa Muuse'ee keessaa Ibraawicha tokko dhaanuun dhagge.

¹² Inni asii fi achi ilaalee nami isa dhaggu tokkolle akka hin jirre hubateen duuba, nama Gibxi'ii san ijjeesee reeffa isaa maansa jala dhosse.

¹³ Guyyaa itti aanulle bayee Ibrooti lama wol loltuun dhagge. Nama balleessaa qabuun «Ati maaf nama Ibraawicha gosa keetii dhaanta?» jedhee gaafate.

¹⁴ Namichille deebisee «Nu irratti bulcha'aa fi abbaa mura'aa ka si godhe eennu? Akkuma nama Gibxi'ii san ijeette analle ijjeesiisaaf yaaddee ree?» jedhe. Achiin duuba Muuseen sodaatee «Wonni ani tolche beekkameera» jedhee yaade.

¹⁵ Mootichi yennaa waan kana dhage'e, Muusee ijjeesiisaaf barbaade; Muuseen ammoo isa duraa baqatee gara lafa Miidiya'aa deemee boolla bisaanii takka bira le'e.

¹⁶ Hayyichi Miidiyaanii tokko ijoollee durraa torba qabaayyu; isaan gara boolla bisaanii san dhufanee hoolee abbaa ifii bisaan obaasiisaaf bisaan woraabanee goongaa* guutane.

¹⁷ Tissitooti dhibiin dhufanee isaan ari'ane; Muuseen ammoo ka'ee durra saniif rogee hoolee isaanii bisaan obaase.

¹⁸ Isaan yennaa gara abbaa ifii Rewu'elii† deebi'ane, inni, «Isin adha maaf haganattuu ariifattanee deebitane?» jedhee gaafate.

¹⁹ Isaanille deebisane, «Nami Gibxi'ii tokko tissitooti nu ariinaan nu'uuf rogee, bisaanille nuu woraabee hoolee teenna nu'uuf obaase» jedhane.

²⁰ Innille durra ifitiin «Meet inni? Isin maaf isa lakkittanee dhuttane? Akka inni nu waliin sagalee nyaatu, dhaqa'aatii waama'a!» jedhe.

²¹ Maarre Muuseen namicha san waliin le'iisaaf jaalate; namichi sunille intala ifii Siiforaa akka niitii isaaf teetu Muuse'eef kenne.

²² Isiin ilma isaaf deette; Muuseelle, «Ani lafa ormaatitti galeera» jedhee, maqaa isaa Gershoom baase. Gershoom jechuun «Galtuu» jechu'u.

²³ Bara heddu'uun duuba mootichi biyya Gibxi'ii du'e; Israa'elooti garbooma keessatti qarqaarsa dhaggatiisaaf iyyatane; iyyi isaan garbummaa jalaa bayiisaaf iyyane gara Waaqaa ol dhaxxe.

²⁴ Waaqille iyya isaanii dhage'ee, gondoorroo ifii ta Abrahaam, Yisihagii fi Yaaqoob waliin gondoore qaabate.

²⁵ Maarre Waaqi akka Israa'elooti garbummaa keessa jiranu dhaggee, isaaniif yaadate.

3

Waaqi Muusee Waame

¹ Gaafa tokko Muuseen hoole'ee fi re'ee soddaa ifii ta Yetroo hayyicha Miidiyaanii adoo tissuu, gaafa tokko hoole'ee fi re'ee san goomolee keessa oofee gara gaara Horeebii ka, «Gaara Woyyicha*» jedhamuu dhufe.

² Achitti ergamaan Waaqaa bobe'a ibiddaa ka tusee keessaa bobe'u keessaa itti mudhatte. Muuseen tuseen sun ibidda irra jiraattulle akka hin gubanne dhagge.

³ Maarre Muuseen, «Tuseen tun maaf hin gubanne? Dhagee baasa guddaa kana ilaala» jedhee herrege.

* **2:16** Goongaa: Yookiin gonboojedhama. † **2:18** Rewu'el: Rewu'eliin kun kama Yetroo jedhame.

* **3:1** Gaara Woyyicha: Addee dhibi'itti (19:11), gaara Siina'aa jedhameera.

⁴ Mootiin Waan Maraa Waaqi akka Muuseen ilaaliisaaf dhage yennaa dhagge, tusee keessaa, «Muuse'e! Muuse'e!» jedhee waame.

Muuseelle, «Ani kunoo as jira!» jedheen.

⁵ Waaqille, «As hin dhikaatin! Addeen ati irra dhaabbatteertu lafa woyyittii waan teeteef, kophee teeti baafadhu» jedheen.

⁶ Achiin duuba, «Ani Waaqa abbootii teetii, Waaqa Abrahaamii, Waaqa Yisihaii, Waaqa Yaaqoobii ti» jedhe. Maarre Muuseen Waaqa ilaaluu waan sodaateef, fuula ifii gollate.

⁷ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa, «Ani dhugumaan rakkinna kolbaa tiyya ta biyya Gibxi'ii keessaa dhaggeera; iyya isaan worra isaan garboon-fatu jalaa bayiisaaf iyyanulle dhage'eera; farra isaaniille beekeera.

⁸ Ani harka worra Gibxi'ii keessaa isaan baasee, gara lafa dansaa aananii fi dammaa gara lafa Kana'aanotaa, gara lafa Heetotaa, gara lafa Amoorotaa, gara lafa Pheriizotaa, gara lafa Hiiwotaatii fi Yibusootaa ol isaan fidiisaaf gad bu'eera.

⁹ Amma kunoo, iyyi Israa'elootaa na bira geetteerti; worri Gibxi'ii akka isaan cunqursaarulle dhaggeera.

¹⁰ Maarre amma deemi. Akka ati kolbaa tiyya Israa'el biyya Gibxi'ii keessaa baattuuf gara mooticha Gibxi'ii si erga» jedheen.

¹¹ Muuseen ammoo Waaqaan, «Gara mootii Gibxi'ii dhaqee, kolbaa Israa'elii biyya Gibxi'iitii ka baasu ani eennu?» jedhe.

¹² Waaqille deebisee, «Ani si woliin hin jiraadha. Kolbaa tiyya biyya Gibxi'iitii baattee yennaa fidde gaara kana irratti na hin waaqonfatta; kunille akka ani si erge beessisa si'iif hin te'a» jedheen.

¹³ Muuseelle Waaqaan, «Ani gara Israa'elootaa dhaqee, «Waaqi abbootii teessanii gara keessan na ergeera» isaaniin yoo jedhe, isaan ammoo, «Maqaan isaa eennu?» jedhanee yoo na gaafatane, ani maan isaanitti hima?» jedhe.

¹⁴ Waaqi Muuse'een, «Ani Waaqa jiraata'a; ati kolbaa Israa'eliitiin «Waaqi jiraataan gara keessan na ergeera» jetta» jedhe.

¹⁵ Waaqi ammalle Muuse'een, «Israa'elootaan, «Mootiin Waan Maraa, Waaqi abbootii teessanii, Waaqi Abrahaamii, Waaqi Yisihaii, Waaqi Yaaqoobii gara keessan na ergeera» jedhi; kun maqaa kiyya ka bara baraa ti; dhalooti martinuu kanumaan na qaabatan.

¹⁶ Dhaqii, jaarsolee Israa'elii wolitti qabiitii, «Mootiin Waan Maraa, Waaqi abbootii teessanii, Waaqi Abrahaamii, Waaqi Yisihaii, Waaqi Yaaqoobii natti mudhatee: Ani biyya Gibxi'ii keessatti isin ilaalee waan isin godhane dhaggeera.

¹⁷ Rakkinna keessan ka biyya Gibxi'ii jalaa isin baasee, gara lafa aananii fi dammaa, gara lafa Kana'aanotaa, gara lafa Heetotaa, gara lafa Amoorotaa, gara lafa Pheriizotaa, gara lafa Hiiwotaa, gara lafa Yibusootaa ol isin baasiisaaf waadaa isiniif galeera anaan jedhe» jedhii itti himi;

¹⁸ «Jaarsoleen kolbaa Israa'eliille dubbii teeti hin dhage'an. Achiin duuba atii fi jaarsoleen sun gara mooticha Gibxi'ii dhaqa'aatii, «Mootiin Waan Maraa, Waaqi Ibrootaa, nu'utti mudhateera. Goomolee keessa karaa guyyaa sadii ideennee, Mootii Waan Maraa Waaqa keennaaf ciincaa akka dhikeessinu nu'uuf eeyyam» jedha'aan;

¹⁹ Mootichi Gibxi'ii irree jaddu'uun malee akka inni gad isin hin lakkinne ani ammoo hin beeka.

²⁰ Maarre ani harka kiyya diriirsee bilbaasa odduu isaaniititti tolchu maraan, worra Gibxi'ii hin dhowa; achiin duuba inni akka isin ideentanu hin lakkisa.

²¹ «Ani worri Gibxi'ii akka isin ulfeessanu waan godhuuf, yennaa achii baatanu harka duwwaa hin ideentanu.

²² Dubartiin Israa'elootaa tokko tokkooyyuu ollaa ifitii fi dubartii worra Gibxi'ii ta mana isi'ii leetu seesa meeti'iitii fi worqi'ii akkasuma woyaa akka kennituuf gaafattuu ti. Seesa kana ilmaanii fi durra teessanitti naxxanee, woyaaalle itti hin uffittan; akka kanaan qabeenna worra Gibxi'ii guurattan» jedhe.

4

Waaqi Hunna Bilbaasaa Muuse'eef Kenne

¹ Achiin duuba Muuseen deebisee, «Israa'elooti, «Mootiin Waan Maraa si'itti hin mudhanne» jedhanee, yoo na dhugeeffatuu dhabane, dubbii tiyyalle yoo dhage'uu didane maan godha ree?» jedhe.

² Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Wonni ati harkatti qabatteertu sun maan?» jedheen.

Innille, «Ule'e» jedheen.

³ Mootiin Waan Maraa deebisee, «Ulee san lafa buus!» jedheen; yennaa Muuseen ulee san lafa buuse, ulee sun bofa teete; Muuseelle irraa dheete.

⁴ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Hiixadhuu harka keetiin eegee isaa qabi!» jedheen; maarre Muusee hiixatee bofa san qabe; bofi sunille deebi'ee ulee te'e.

⁵ Mootiin Waan Maraa, «Kanaan ani Mootiin Waan Maraa, Waaqi abbootii isaanii, Waaqi Abrahaamii, Waaqi Yisihaii, Waaqi Yaaqoobii akka si'itti mudhadhe hin dhugeeffatan» jedheen.

⁶ Ammalle Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Harka keeti bobaa teeti keessa keyadhu!» jedhe. Innille harka ifii bobaa ifii keessa keyate; yennaa inni harka bobaa keessaa fuudhu, harki isaa akka dhakaa bokkeyaa akka dhukkuba goga'aa farrisiisa'aa addaate.

⁷ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa, «Harka keeti bobaa teeti keessatti deebis!» jedheen. Muuseelle harka ifii bobaa ifii keessatti deebifate; yennaa inni achi keessaa baafatu, harki fayyee akka nafa isaa kaan fakkaate.

⁸ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa, «Isaan yoo si dhugeeffatuu dhabane yookiin bilbaasa qaraalle yoo fudhatuu dhabane, bilbaasa lammeesso'oo kana hin dhugeeffatan.

⁹ Bilbaasa kana lamaanuu yoo dhugeeffatuu dhabane, dubbii teetille yoo caqasuu didane, bisaan laga Nayilii woraabiitii lafa godduu irratti dhangalaas; bisaan ati lagaa woraadde sun lafa godduu irratti dhiiga hin te'a» jedhe.

¹⁰ Muuseen ammoo Mootii Waan Maraatiin, «Ee Gootaa kiyya, na hin ergin. Ani duruu nama gikkisu, arrab kiyyalle hin ulfaata; haga ati ana garbicha keeti woliin dubbii jalqadelle ani nama dandeettii dubbi'ii qabu ijjumaa hin teene» jedhe.

¹¹ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa, «Afaan namaa ka dade eennu? Ka afaan namaatii fi gurra namaa duudaa godhu eennu? Ka ila namaa akka dhaggitu godhu yookiin ballaa godhu eennu? Ana Mootii Waan Maraatii motii?

¹² Amma, deemi; ani akka ati dubbattuuf si hin qarqaara; waan ati jettulle si hin barsiisa» jedhe.

¹³ Muusee ammoo, «Ee, Goota'a, maganne'e nama dhibii ergi» jedhe.

¹⁴ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'etti aaree bobe'ee, «Obboleessi keeti Aaron sanyiin Lewwi'ii hin jiraa motii? Inni akka dansaa akka dubbatu

ani hin beeka. Kunoo inni gara keeti dhufiisaaf ammaayyuu karaa irra jira; inni yennaa si dhagge gadhaan isaa hin gammada.

¹⁵ Ati isatti hin dubbatta; waan inni dubbatulle itti akeetta. Akka dubbat-tanu isin lamaanuu ani hin qarqaara; waan tolchitanulle isin hin barsiisa.

¹⁶ Inni addee teeti bu'ee kolba'atti hin dubbata. Achiin duuba ati akka ana Waaqaa teetee, waan inni dubbatu itti hin hinta.

¹⁷ Ulee bilbaasa ittiin tolchitu tana harkatti qabadhu» jedhe.

Muuseen Gara Gibxi'ii Deebi'e

¹⁸ Achiin duuba Muuseen gara soddaa ifii gara Yetroo deebi'ee, «Gara fira kiyyaa ka Gibxii keessa jiranuu deebi'ee dhagee, akka isaan haga ammaa lubbu'uun jiranu ilaala!» jedheen. Yetrolle Muuse'een «Nageyaan dhaqi!» jedhe.

¹⁹ Muuseen Miidiyaan keessa adoo jiruu, Mootiin Waan Maraa, «Worri ijjeesiisaaf si barbaade martinuu amma waan du'aneeranuuf, gara Gibxi'ii deebi'ii deemi» jedheen.

²⁰ Maarre Muuseen niitii ifitii fi ilmaan ifii mara harree irra teessisee, gara Gibxi'ii deebi'uu jalqabe; inni ulee Waaqaa sanille harkatti qabateeraayyu.

²¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Yennaa gara biyya Gibxi'ii deebite, bilbaasota ani akka ati hujjuuf hunna si'iif kenne mara fuula mooticha Gibxi'ii duratti akka mudhittu hin dedhin; ani ammoo akka inni akka ideentuuf kolbaa gad hin lakkinne, mataa isaa hin jabeessa.

²² Achiin duuba ati mootichaan, «Mootiin Waan Maraa: Israa'el ilma kiyya angaficha;

²³ akka inni deemee dhagee na waaqonfatuuf gad lakkisi si'iin jennaan, ati ammoo akka inni deemu gad lakkisuu didde. Maarre amma ani ilma keeti angaficha hin ijjeesa jedheera» jedhiin» jedhe.

²⁴ Muuseen gara Gibxi'ii adoo deemu, addee inni buleerutti Mootiin Waan Maraa itti dhufee, isa ijjeesiisaaf barbaade.

²⁵ Niitiin isaa Siiforaan ammoo dhakaa gara qabu fuutee, ilma ifii haqan-qabaa qaddee, shoggoraa* saniin miila Muuse'ee tuxxee, «Dhiiga dhangala'e kanaan, dhugumaan ati karaa fuudhaatiin fira kiyya» jetteen.

²⁶ Maarre Mootiin Waan Maraa Muusee lakkise; isiin sababa haqan-qaba'aatiif, «Dhiiga dhangala'e kanaan, ati karaa fuudhaatiin fira kiyya» jetteen.

²⁷ Mootiin Waan Maraalle Aaroniin, «Muusee qophatiisaaf gara goomole'ee dhaqi» jedhe. Maarre inni gaara Waaqaa irratti isa qophatee sunqate.

²⁸ Achiin duuba Muuseen, dubbii Mootiin Waan Maraa akka inni dubbatuuf isa erge mara, bilbaasota akka inni tolchuuf isa ajaje mara Aaronitti hime.

²⁹ Maarre Muuse'ee fi Aaron deemanee jaarsolee sooreyyii Israa'elootaa mara wolitti qabane.

³⁰ Aaron waan Mootiin Waan Maraa Muuse'etti hime mara isaanitti hime; Muuseelle fuula kolba'aa duratti bilbaasota huje.

³¹ Isaanille dhugeeffatane; Mootiin Waan Maraa akka Israa'elooti garbummaa keessa jiranu dhagee, isaaniif akka yaadate, yennaa dhage'ane, jilbiiffatane sagadane.

5

Muuse'ee fi Aaron Mooticha Gibxi'ii Dura Dhikaatane

* 4:25 Shoggoraa: Gogaa qaccee nafa hilaa ka dhiiraa ti.

¹ Achiin duuba Muuse'ee fi Aaron gara mootii Gibxi'ii dhaqanee, «Mootiin Waan Maraa, Waaqi Israa'elii, «Kolbaa tiyya goomolee keessatti jila akka naaf jilisanu gad isaan lakkisi» jedheera» jedhaneen.

² Mootichi Gibxi'ii deebisee, «Mootiin Waan Maraa ka ani isaaf ajajamee, Israa'eloota akka deemanu gad lakkisu kun eennu inni? Ani Mootii Waan Maraa san hin beeku; Israa'elootalle akka deemanu gad hin lakkisu» jedhe.

³ Muuse'ee fi Aaronille deebisane, «Waaqi Ibrootaa nu'utti mudhateera; karaa guyyaa sadii goomolee keessa ideennee, Mootii Waan Maraa Waaqa keennaaf ciincaa akka dhikeessinu nu'uuf eeyyami. Nuuti yoo kana hin tolchin inni balaa yookiin woraana nu'utti hin fida» jedhaneen.

⁴ Mootichi Gibxi'ii ammoo, «Muuse'ee fi Aaroniin! Isin maaf kolbaa hujii dhooggitan? Gara hujii teessanii deebi'a'a!

⁵ Kunoo, kolbaan lafa tanaa bacatteerti; isin akka isaan hujii lakkisanu godhiisatti jirtan» jedhe.

⁶ Guyyuma san Mootichi Gibxi'ii worra hunnaan isaan hojjachiisuu fi worra Israa'eloota hojjatoota toowatanu ajajee,

⁷ «Akka qara tolchaa turtane, hicaacee dhoqqe'een loobanu haganaa achi kolba'aaf hin dhikeessina'a! Isaanuu ifumaaf barbaadane fidatanuu ti!

⁸ Laakkossa loobaa faara ijaarsaale* haga qara hujjanu hin dhidhisina'a; haguma qara itti murteeffame san akka fidanu godha'a. Isaan booseya; tanaaf, «Dhandhee ciincaa Waaqa keennaaf dhikeessina» jedhaa natti iyyan.

⁹ Isaan oduu dharaa akka hin caqanne, huji'iin akka qabamanuuf, hujii ulfaattuu akka isaan hujjanu tolcha'a» jedhe.

¹⁰ Worri hunnaan isaan hojjachiisuu fi worri Israa'eloota hojjatoota toowatanu dhaqanee kolbaa Israa'eliitiin, «Mootichi, «Ani haganaa achi hicaacee isiniif hin kennu.

¹¹ Isinuu ifumaaf addee itti dhaggitanee barbaadadha'aatii fudhadha'a; hujii teessan ammoo haga qaraa irraa hin dhidhatin» jedheera» jedhane.

¹² Maarre kolbaan hicaacee barbaadiisaaf lafa Gibxi'ii mara keessa bittin-nootte.

¹³ Worri hunnaan isaan hojjachiisanu ammoo, «Akkuma qara yennaa hicaaceen isiniif kennamu hojjattanu, hujii guyyuma guyya'aan akka hujjanu murteeffame san hobbaasa'a» jedhaa dhiibbaa itti jabeessane.

¹⁴ Worri hunnaan isaan hojjachiisanu, toowattoota hojjatoota Israa'eliitiin, «Laakkossa loobaa faara ijaarsaa ka kale'eetii fi ka adhaa akkuma qara akka hujjanuuf murteeffame maaf hujuu dhaddane?» jedhaa dikaa gaafatane.

¹⁵ Achiin duuba toowattooti hojjatoota Israa'elii gara mooticha Gibxi'ii dhaqanee, «Ati maaf nu worra tajaajiltoota teetii akkana goota?

¹⁶ Nu worra tajaajiltoota teetiitiif hicaaceen hin kennanne, te'uu malee «Loobaa faara ijaarsaa huja'a» nu'uun jedhan; nuuti tajaajiltooti teeti dikamisaatti jirra; balleessaan ammoo ta kolbaa teetii ti» jedhane iyyatane.

¹⁷ Mootichi Gibxi'iille deebisee, «Isin booseya; hujii hujiisa hin jaalattanu! Tanaaf, «Dhandhee ciincaa Mootii Waan Maraatiif dhikeessina» jettan;

¹⁸ amma huji'itti deebi'a'a! Hicaaceen tokkolle isiniif hin kennamu; te'uu malee laakkossa loobaa faara ijaarsaa akkuma qara akka hujjanuuf murteeffame san guutuu huja'a» jedheen.

¹⁹ Toowattooti hojjatoota Israa'elii, laakkossi loobaa faara ijaarsaa akka isaan guyyuma guyya'aan hujjanuuf murteeffame akka hin dhidhanne yenna itti himame rakkoon guddoon akka isaa dhaqqadde beekane.

* 5:8 Loobaa faaraa: Afaan Amaariffaatiin xuubii jedhama.

²⁰ Isaan mooticha biraa yennaa bayane, worra isaan eegaa ture Muuse'ee fi Aaron dhaggane.

²¹ Isaan Muuse'ee fi Aaroniin, «Mootichi fi qondaaltoti isaa akka nu xireffatanu gootanee, shallaagaa ittiin nu ijjeesanu harka isaanii keessa waan keettaneef, Mootiin Waan Maraa ilaalee, isinitti muruu ti!» jedhane.

Muuseen Gara Mootii Waan Maraa Iyye

²² Muuseen gara Mootii Waan Maraa deebi'ee, «Ee Mootii Waan Maraa kolbaa tana irratti rakkoo tana maaf fidde? Tanaaf as na ergitee?

²³ Haga ani maqaa keetiin dubbatiisaaf mooticha bira dhageen jalqabee, inni kolbaa tana rakkisiisatti jira; ati ammoo kolbaa teeti qarqaariisaaf waan tokkolle hin goone!» jedhe.

6

¹ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Waan ani mooticha Gibxi'ii godhu ati amma hin dhaggita. Ani irree tiyya jaddu'uun akka inni kolbaan tiyya gad lakkisu hin tolcha. Dhugumaan, ani irree tiyya jaddu'uun akka inni biyya ifii keessaa isaan oofu isa hin tolcha» jedhe.

Waaqi Muusee Waame

² Waaqi Muuse'een, «Ani Mootii Waan Maraa ti;

³ ani Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dande'u Abrahaamitti, Yisihaqii fi Yaaqoobitti mudhadheera. Ammoo maqaa kiyya «Mootii Waan Maraa ti» jedhee isaanitti ifi hin beessinne.

⁴ Biyya Kana'aanii, ta isaan alagaa te'anee keessa le'ane, isaanii kenniisaaf gondoaroo tiyya isaan woliin godheera.

⁵ Amma aaduu Israa'elootaa ta worri Gibxi'ii waan isaan garboonfateef aadanu dhage'ee, ani gondoaroo tiyya qaabadheera.

⁶ «Tanaaf ati Israa'elootaan, «Mootiin Waan Maraa: Ani Mootii Waan Maraa ti; ani garbummaa Gibxi'ii jalaa isin baasee isin hin bilisoonsa. Irree tiyya ol kaasee, adabbii gugurdoo isaanitti fidee, isin hin woda

⁷ Ani kolbaa tiyya isin tolfadhee, Waaqa keessan isiniif hin te'a. Yennaa ani garbummaa Gibxi'ii jalaa isin bilisa baase ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan akka te'e hin beettan.

⁸ Lafa Abrahaamiif, Yisihaqii fi Yaaqoobiif kenniisaaf waadaa gale sanitti akka isin galtanu godhee, isiniif hin kenna. Ani Mootii Waan Maraa ti jedha» jedhiin» jedhe.

⁹ Muuseelle waan kana Israa'elootatti hime; garbummaan hantuun addii waan isaan kutachiitteef, isaan ammoo isa hin caqanne.

¹⁰ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

¹¹ «Gara mooticha Gibxi'ii dhaqiitii, Israa'elooti lafa isaa keessaa akka bayanu akka inni isaan gad lakkisu itti himi» jedhe.

¹² Muuseen ammoo deebisee, «Kunoo, Israa'elootinuu na hin dhageenne; mootichi fa'a ana nama akka dansaa dubbatiisa hin beenne attam dhage'uu dande'a ree?» jedhe.

¹³ Mootiin Waan Maraa Muuse'ee fi Aaronitti dubbatee, Israa'eloota biyya Gibxi'ii keessaa baasiisaaf, dhagane Israa'eloota fi mooticha Gibxi'iititti akka himanu isaan ajaje.

Hidda Dhaloota Muuse'eetii fi Aaronii

¹⁴ Ilmi angafichi Yaaqoobii Ruuben, ilmaan afur: Heenoki, Faluu, Hezronii fi Karmii qaba. Isaan abbootii sanyii Ruubenii ti.

¹⁵ Shimi'oon ilmaan jaa: Yimu'el, Yaamiin, Ohad, Yaakiin, Zohaar, Shaawul ta dubartiin Kana'aanotaa deette qaba. Isaan abbootii sanyii Shimi'oonii ti.

¹⁶ Lewwiin ilmaan sad: Gershoon, Qehaatii fi Meraari qaba. Isaan abbootii sanyii Lewwootaa ti. Lewwiin woggaa dhibbaa fi soddonii torba le'e.

¹⁷ Gershoon ilmaa lama: Liibnii fi Shime'i qaba.

¹⁸ Qehaat ilmaan afur: Amraam, Yizhaar, Hebroon fi Uzii'el qaba. Qehaat woggaa dhibbaa fi soddonii sad le'e.

¹⁹ Meraar ilmaa lama: Maahilii fi Mushi qaba. Isaan abbootii sanyii fira Lewwi'ii ti.

²⁰ Amraam obboleettii abbaa ifii Yokebeed fuudhe. Isiin Aaron fi Muusee isaaf deette. Amraam woggaa dhibbaa fi soddonii torba le'e.

²¹ Yizhaar ilmaa sad: Qoraahi, Nefegii fi Ziikri qaba.

²² Uzii'el ilmaa sad: Miishaa'el, Elzaafaanii fi Siitri qaba.

²³ Aaron intala Aminaadaabii, obboleettii Nahasoonii Elishebaa fuudhe. Isiille Naadaab, Abiihuu, Ele'azaarii fi Itaamaar deetteef.

²⁴ Qoraahi ilmaan sad: Asiir, Elqaana'aa fi Abii'aasaaf qaba. Isaan abbootii sanyii Qoraahii ti.

²⁵ Ilmi Aaronii Ele'azaar, durra Futii'elii keessaa takkattii fuudhe; isiin Fiinehaas isaaf deette. Isaan kun sooreyyii abbootii sanyii Lewwi'ii ti.

²⁶ Muuse'ee fi Aaron worra Mootiin Waan Maraa, «Gosa Israa'elii akka fira fira isaaniititti biyya Gibxi'ii keessaa baasa'a!» jedhee itti dubbate.

²⁷ Akka inni Israa'eloota gad lakkisuuf mooticha Gibxi'ii itti worri dubbate isaanuma kana.

Waaqi Muuse'ee fi Aaron Ajaje

²⁸ Mootiin Waan Maraa lafa Gibxi'ii keessatti Muuse'etti yennaa dubbate,

²⁹ «Ani Mootii Waan Maraa ti. Waan ani si'itti hime mara mooticha Gibxi'ii itti himi» jedhe.

³⁰ Muuseen ammoo deebisee «Ani nama akka dansaa dubbatiisa hin dandeenne akka te'e atinuu hin beetta; mootichi attamiin dubbii tiyya dhage'uu dande'a ree?» jedhe.

7

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Kunoo, ani mooticha Gibxi'ii irratti akka Waaqaa si godheera; obboleessi keeti Aaron ammoo akka raagichaa te'ee addee teeti hin dubbata.

² Ati waan ani si ajaje mara hin dubbatta; obboleessi keeti Aaron akka Israa'elooti biyya isaa keessaa baatuuf akka inni isaan gad lakkisu mootichatti hin hima.

³ Ani ammoo mooticha Gibxi'ii mataa hin jabeessa; bilbaasaa fi baasa hedduu biyya Gibxi'ii itti tolchulle inni isin hin caqasu.

⁴ Achiin duuba ani adabbii jadduu Gibxi'itti fidee, mura'a guddoon gumii tiyya kolbaa tiyya Israa'eloota lafa Gibxi'ii keessaa hin baasa.

⁵ Ani biyya Gibxi'ii adabee Israa'eloota achi keessaa yennaa baase, worri Gibxi'ii akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beekan» jedhe.

⁶ Muuse'ee fi Aaronille akkuma Mootiin Waan Maraa isaan ajaje godhane.

⁷ Muuse'ee fi Aaron mootichatti yennaa dubbatanu, Muuseen nama woggaa saddeettamaa, Aaron ammoo nama woggaa saddeettamii sadii ti.

Ulee Aaronii

⁸ Mootiin Waan Maraa Muuse'ee fi Aaroniin,

⁹ «Mootichi «Bilbaasa huja'a» yoo jedhe, ati Aaroniin «Ulee teeti fuudhiitii mooticha dura buusi» jedhi; uleen sunille bofa hin teeti» jedhe.

¹⁰ Maarre Muuse'ee fi Aaron gara mootichaa dhaqanee akkuma Mootiin Waan Maraa isaan ajaje godhane. Aaron ulee ifii mootichaa fi qondaaltota isaa dura buuse; ulee sunille bofa teete.

¹¹ Achiin duuba mootichi worra qaroole'ee fi worra xanoo xanu waame; isaanille ogummaa ifii ta dhossa'aatiin akkuma san godhane.

¹² Tokko tokkoon isaanituu ulee ifii lafa buusane; uleen sunille bofa teete. Uleen Aaronii ammoo ulee isaanii liqinsite.

¹³ Te'uu malee mootichi mataa jabaatee, akkuma Mootiin Waan Maraa dubbate Muuse'ee fi Aaron dhage'iisa didate.

Balaa Tokkeesso'oo: Bisaan Dhiiga Te'e

¹⁴ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Mootichi mataa jabaa-tee, kolbaan akka deentu gad lakkisuu dide.

¹⁵ Tanaaf, yennaa inni gara laga Nayilii gad bu'u, ganamaan gara isaa dhaqi. Ulee teeti ta bofa teete san qabadhuutii isa dhaggiisaaf, laga qar-qaratti isa eegi.

¹⁶ Achiin duuba isaan, «Mootiin Waan Maraa Waaqi Ibrootaa sitti na ergee: Kolbaan tiyya dhaxxee goomolee keessatti akka na waaqonfattu gad lakkisi! Si'iin jedheera. Ati ammoo haga ammaa dhage'uu didde.

¹⁷ Amma Mootiin Waan Maraa: Akka ani Mootii Waan Maraa te'e tanaan beetta si'iin jedheera. Kunoo ani ulee harkaa qabu tanaan bisaan Nayilii hin dhowa; bisaan sunille gara dhiigaatitti hin jijjiirama.

¹⁸ Qurxummiin laga Nayilii keessa jirtu hin dhumatti; lagi sun hin ajowa; worri Gibxi'iille bisaan san uniisa hin dande'anuu jedhiin» jedhe.

¹⁹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Dhaqii Aaroniin, «Ulee teeti harkatti qabadhuutii, bisaan biyya Gibxi'ii lagoota, anguree, baleessa, eela mara irratti harka keeti diriirsi. Isaan gara dhiigaa hin jijjiiraman; bisaan lafa sanii marti, ka waabaa keessa jirulle gara dhiigaa hin jijjiirama» jedhi» jedhe.

²⁰ Achiin duuba Muuse'ee fi Aaron akkuma Mootiin Waan Maraa isaan ajaje godhane. Aaron mootichaa fi qondaaltota isaa duratti ulee ifitiin bisaan dhowe; bisaan laga Nayilii marti gara dhiigaa jijjiirame.

²¹ Qurxummiin laga Nayilii keessa jirtu marti dhumatte; lagille ajowee, worri Gibxi'ii bisaan laga sanii uniisa hin dandeenne.

²² Worri Gibxi'ii ka xanoo xanu, ogummaa ifii ta dhossa'aatiin akkuma san godhane; mootichi mataa jabaatee, akkuma Mootiin Waan Maraa dubbate, Muuse'ee fi Aaron dhage'iisa didate.

²³ Inni deebi'ee gara mana ifii deeme; waan te'e kana qalbi'itti hin qabanne.

²⁴ Bisaan lagaa uniisa waan dadhabaneef, worri Gibxi'ii marti bisaan uni'ii dhaggatiisaaf, laga Nayilii qarqaratti boolla bisaanii qotatane.

²⁵ Mootiin Waan Maraa bisaan laga Nayilii gara dhiigaa jijjiireen duuba guyyaan torba dabare.

8

Balaa Lammeesso'oo: Raachi Biyyatti Bu'e

¹ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Gara mootichaa dhaqiitii, «Mootiin Waan Maraa: Kolbaan tiyya akka na waaqonfattuuf gad lakkisi!

² Ati isaan gad lakkisuu yoo didde ammoo, ani raacha biyya teetitti buusiisaan hin adaba.

³ Lagi Nayilii raachaan akka malee hin guutama. Isaan achi keessaa bayanee gara mana mootumma'aa keetii, gara kolloo taqee teetii, gara taqee teetii, gara mana qondaaltota teetii, kolbaa teeti irratti, akkasuma addee ibiddaatii fi meya bukoo itti bukeessanu keeti keessalle hin guutan.

⁴ Raachi sun utaalee si'i irra, kolbaa keetii fi qondaaltota teeti mara irra hin bu'a jedha» jedhiin» jedhe.

⁵ Achille'een duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Raachi dhufee lafa Gibxi'ii akka guutuuf, Aaron ulee ifii qabatee harka ifii laga, angure'ee fi baleessa mara irra akka diriirsu itti himi» jedhe.

⁶ Maarre Aaron bisaan biyya Gibxi'ii mara irratti harkaa ifii diriirse; raachille dhufee lafa san guute.

⁷ Worri xanoo xanulle ammoo ogummaa ifii ta dhossa'aatiin akkuma san godhane; isaanille raachi dhufee lafa san akka guutu godhane.

⁸ Mootichi Muuse'ee fi Aaron waamee, «Akka inni raacha kana balleessuuf, gara Mootii Waan Maraa naaf daadimadha'a; akka isaan dhaqanee, Mootii Waan Maraatiif ciincaa dhikeessanu, anille kolbaa teessan gad hin lakkisa» jedheen.

⁹ Muuseelle deebisee Mootichaan, «Raachi kun si'i irraa, gondaaltotaa fi kolbaa teeti irraa akka badu guyyaa ani daadimadhu ati qabadhu. Achiin duuba raachi kun si'ii fi mana keeti keessaa badee laga Nayilii keessa qofatti hin hafa» jedhe.

¹⁰ Mootichille deebisee, «Boru naaf daadimadhu» jedheen. Muuseelle, «Ka akka Mootii Waan Maraa, Waaqa keennaa tokkolle akka hin jirre akka ati beettuuf, akkuma ati jette teetuu ti.

¹¹ Raachi si'i irraa, gondaaltota teetii fi kolbaa teeti irraa badee, laga Nayilii keessa qofatti hin hafa» jedheen.

¹² Achiin duuba Muuse'ee fi Aaron mooticha biraa gad bayanee, Mootiin Waan Maraa raacha mootichatti fide san akka balleessuuf, Muuseen gara Mootii Waan Maraa daadimate.

¹³ Mootiin Waan Maraa waan Muuseen daadimate san tolche; raachi sun manoota keessatti, badhinna dalleya keessaatii fi diida keessatti dhumate.

¹⁴ Worri Gibxi'ii raacha san wolitti qabatee tuulane; tanaaf latti ajootte.

¹⁵ Mootichi raachi akka irraa goome yennaa dhagge, mataa jabaatee, akkuma Mootiin Waan Maraa dubbate, Muuse'ee fi Aaron dhage'iisa didate.

Balaa Sadeesso'oo: bookee

¹⁶ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Bukuun biyya Gibxi'ii marti bookee akka teetuuf, ati Aaroniin, «Ulee teeti fuudhiitii, bukuu lafa irraa dhowi» jedhiin» jedhe.

¹⁷ Isaanille akkasuma godhane; Aaron harka ifii diriirsee ulee ifitiin bukuu lafa irraa yennaa dhowe, namaa fi horii irratti bookeen buute; bukuun biyya Gibxi'ii marti gara booke'ee jijjiirante.

¹⁸ Bookeen namaa fi hori'itti duudde. Worri xanoo xanu ogummaa ifii ta dhossa'aatiin bookee buusiisaaf yennaa wodhaanane ammoo, hin danneenne.

¹⁹ Worri xanoo xanu, mootichaan, «Kun hujii Waaqa ti!» jedhane. Mootichi ammoo mataa jabaatee, akkuma Mootiin Waan Maraa dubbate, Muuse'ee fi Aaron dhage'iisa didate.

Balaa Arfeesso'oo; Faacha

²⁰ Mootiin Waan Maraa ammalle Muuse'een, «Boru ganama bari'iin ka'iitii, yennaa mootichi laga deemu, isa dura dhaabbadhuutii, «Mootiin Waan Maraa: Kolbaan tiyya akka na waaqonfattuuf, gad lakkisi!

²¹ Ati kolbaa tiyya gad lakkisuu yoo didde ammoo, ani tuuta faachaa si'itti, gondaaltota teetii fi kolbaa teetitti hin buusa. Manni worra Gibxi'ii marti, addeen isaan jiranu marti faachaan hin guutaman.

²² «Guyyaa san ammoo, akka ani, Mootiin Waan Maraa lafa tana keessa jiru akka ati beettuuf, lafa kolbaan tiyya keessa leetu Gooshen, akka faachi achi hin jiraanne hin tolcha.

²³ Ani kolbaa tiyyaa fi kolbaa teeti oddu'utti garaagarummaa hin tolcha; bilbaasi kunille boru hin te'a jedha» jedhiin» jedhe.

²⁴ Mootiin Waan Maraa akkuma dubbate tolche. Tuuti faachaa Mana mootichaatii fi mana qondaaltota isaatitti bu'e; latti Gibxi'ii marti faachaan guutantee badde.

²⁵ Achiin duuba mootichi Muuse'ee fi Aaron waamee, «Dhaqa'aatii biyyuma tana keessatti Waaqa keessaniif ciincaa dhikeessa'a» jedhe.

²⁶ Muuseen ammoo deebisee «Ciincaan nuuti Mootii Waan Maraa Waaqa keennaaf dhikeessinu, worra Gibxi'ii biratti diqatamaa waan te'uuf, tana godhuun sirri'ii moti. Ciincaa isaan duratti diqatamaa te'e, yoo dhikeessine dhaka'aan nu hin tumanuu?

²⁷ Akkuma inni nu ajaje guyyaa sad goomolee keessa deennee, Mootii Waan Maraa Waaqa keennaaf ciincaa dhikeessuu qanna» jedhe.

²⁸ Mootichille, «Akka Mootii Waan Maraa Waaqa keessaniif goomolee keessatti ciincaa dhikeessitanu, ani gad isin hin lakkisa; garuu fagaattanee hin deemina'a. Anaafille daadimadha'a» jedhe.

²⁹ Muuseelle deebisee, «Akkuma si biraa deemeen, Mootii Waan Maraa hin daadimadha. Faachi si'i, qondaaltota teetii fi kolbaa teeti irraa hin ka'a. Ati ammoo kolbaan dhaxxee, Mootii Waan Maraatiif ciincaa dhikeessiisa dhooggitee ammalle nu hin sobin» jedhe.

³⁰ Achiin duuba Muuseen mooticha biraa deemee, Mootii Waan Maraa daadimate.

³¹ Mootiin Waan Maraalle waan Muuseen daadimate tolche. Faachi tokkolle adoo hin hafin mooticha, qondaaltota isaatii fi kolbaa isaa irraa bade.

³² Mootichi ammoo yennaa tanalle mataa jabaatee, kolbaa gad lakkisuu didate.

9

Balaa Shaneesso'oo; Dhuma Hori'ii

¹ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Gara mootichaa dhaqiitii, «Mootiin Waan Maraa Waaqi Ibrootaa: Kolbaan tiyya dhaxxee akka na waaqonfattuuf gad lakkisi.

² Ati ammalle akka isaan deemanu yoo gad lakkisuu dide,

³ ani horii keeti ka diida tikatu fardoolee teeti, harreelee teeti, gaalota keeti, hoolota teetii fi re'oota teeti irratti dhukkuba hamaa hin buusa.

⁴ Horii Israa'elootaatii fi horii worra Gibxi'ii wodhakka'atti garaagarummaa hin tolcha; horiin Israa'elootaa hin du'u jedha» jedhiin» jedhe.

⁵ Mootiin Waan Maraa guyyaa murteessee, «Ani waan kana boru lafa tanatti hin fida» jedhe.

⁶ Guyyaa itti aanu Mootiin Waan Maraa akkuma jedhe godhe; horiin worra Gibxi'ii marti dhumatee, ka Israa'eloota ammoo tokkolle hin duune.

⁷ Mootichi akka ilaalanu namoota ergee, horiin Israa'elootaa tokkolle akka hin du'in hubate; te'uu malee mootichi mataa jabaatee kolbaa gad lakkisuu didate.

Balaa Jayeesso'oo; Iita

⁸ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'ee fi Aaroniin, «Badaa ibid-daa irraa daadhaa ooboo takkaa fuudha'aatii, Muuseen mooticha duratti qilleensa irratti ol qolaansuu ti.

⁹ Daadhaan sun lafa Gibxi'ii mara irratti bukuu te'ee, namaa fi horii irratti iita maloottu hin te'a» jedhe.

¹⁰ Isaanille bukuu fuudhanee fuula mootichaa dura dhaabbatane; Muuseelle daadhaa san qilleensa irratti ol qolaansee, kolba'aa fi horiin marti iitowane.

¹¹ Worri xanoo xanuu fi worri Gibxi'ii marti waan iitowaneeranuuf, worri xanoo xanu Muusee dura dhaabbatiisa hin dandeenne

¹² Mootiin Waan Mara ammoo mooticha mataa jabeessee, akkuma Mootiin Waan Maraa Muuse'etti dubbate, mootichi Muuse'ee fi Aaron dhage'iisa didate.

Balaa Torbeesso'oo; bokkeya dhaka'aa

¹³ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Boru ganama bari'iin ka'iitii, mooticha dura dhikaadhuutii, Mootiin Waan Maraa Waaqi Ibrootaa: Kolbaan tiyya akka na waaqonfattuuf gad lakkisi.

¹⁴ Yoo gad lakkisuu didde, biyya lafaa mara irra ka akka kiyyaa tokkolle akka hin jirre, akka ati beettuuf ani amma si irratti, qondaaltota teetii fi kolbaa teeti irratti balaa hamaa hin fida.

¹⁵ Ani akka harka kiyya ol fudhaddetti si'ii fi kolbaa teeti adoo dhowee jiraadhee, silaa ati lafa irraa ijjumaa baddeerta.

¹⁶ Te'uu malee hunna tiyya si'itti mudhisiisaa fi maqaan kiyya biyya mara irratti akka beekkamuuf, ani si lakkise.

¹⁷ Ati ammoo haga ammaa ol ifi qaddee kolbaan tiyya akka deentu gad lakkisuu didde.

¹⁸ Tanaaf, boru yennaa akkanaa tana bokkeya dhaka'aa hamaa ka dabarsii biyya Gibxi'ii keessatti bu'ee hin beenne, hin buusa.

¹⁹ Bokkeenni dhaka'aa hori'ii fi nama gara manaa hin galin waan ala jiru mara waan ijjeesuuf, ati amma horii keetii fi waan ala jiru mara manatti akka galchanu ajaji jedha» jedhiin» jedhe.

²⁰ Qondaaltoti mootichaa worri jecha Mootii Waan Maraa sodaate, garboolee ifitii fi horii ifii manatti galfatiisaaf ariifate.

²¹ Worri gariin ka jecha Mootii Waan Maraa tuffate, garboolee ifitii fi horii ifii alatti lakkise.

²² Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Lafa Gibxi'ii mara irratti, namaa fi horii irratti, waan lafa Gibxi'ii irratti latu mara irratti bokkeenni dhaka'aa akka bu'u harka keeti gara gubba'aa ol kaasi» jedhe.

²³ Yennaa Muuseen ulee ifii gara gubba'aa ol kaase, Mootiin Waan Maraa mandiisu'uu fi bokkeya dhaka'aa buusee balaqqeettiille balaqqitte. Maarre Mootiin Waan Maraa bokkeya dhaka'aa lafa Gibxi'ii irratti roobisiise

²⁴ Bokkeenni dhaka'aa hamaan bu'e; balaqqeettiin balaqqitte. Haga Gibxi biyya teeteen jalqaddee bubbeen bokkeyaa ta teetee hin beenne teete.

²⁵ Bokkeenni dhaka'aa kun biyya Gibxii keessatti namaa fi horii alatti hafane mara dhowe. Waan diida keessatti lateeru mara dhowee, mukoota mara caccasse.

²⁶ Addee worri Israa'elootaa le'anuu lafa Gooshenii qofatti, bokkeenni dhaka'aa hin buune.

²⁷ Achiin duuba Mootichi Muuse'ee fi Aaron waamee, «Ani amma yakkeera. Mootiin Waan Maraa balcha'a. Ani fi kolbaa tiyya ammoo yakkiineerra.

²⁸ Bokkeenni dhaka'aatii fi mandiisuun waan nutti bacatteef, Mootii Waan Maraa nu'uuf daadimadha'a. Anille gad isin hin lakkisa. Haganaa achi as hin turtanu» jedhe.

²⁹ Muuseen deebisee, «Ani qachaa keessaa yennaa baye, harka kiyya gara Mootii Waan Maraa ol kaasee hin daadimadha. Latti tun ta Mootii Waan Maraa akka teete akka ati beettuuf, mandiisuun hin dhaabbatti. Bokkeenni dhaka'aalle haganaa achi hin jiraatu.

³⁰ Garuu ati fi qondaaltoti teeti Mootii Waan Maraa Waaqa akka hin sodaanne ani hin beeka» jedhe.

³¹ Yennaa san talbaan daraaree garbuun ammoo shawwee waan te'eef, talba'aa fi garbuulle bokkeya dhaka'aatiin badane.

³² Qamadi'ii fi ajjaan ammoo duuba irra waan bilchaatanuuf hin banne.

³³ Achiin duuba Muuseen mooticha biraa deemee, qachaa keessaa bayee, daadimatiisaaf, harka ifii gara Mootii Waan Maraa ol kaase. Mandiisu'uu fi bokkeenni dhaka'aa dhaabbatee, bokkeennille roobiisaa lakkise.

³⁴ Mootichi mandiisuun, bokkeenni dhaka'aatii fi bokkeenni akka dhaabbate yennaa dhagge, ammalle yakkaa huje. Innii fi qondaaltoti isaa mataa jabaatane.

³⁵ Akkuma Mootiin Waan Maraa Muuse'etti dubbate, mootichi mataa jabaatee, Israa'elooti akka deemanu gad lakkisuu didate.

10

Balaa Saddeetesso'oo; Awwaannisa

¹ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Ati gara mootichaa dhaqi. Ani bilbaasota kiyya kana odduu isaaniititti tolchiisaaf, mootichaa fi qondaaltota isaa mataa jabeesseera.

² Ati ammoo waan ani worra Gibxi'ii irratti tolche, bilbaasota ani isaan oddu'utti huje kana, dabarsitee ilmaan teetii fi ilmaan ilmaan teetiititti hin hinta. Isin akka ani Mootii Waan Maraa te'e tanaan hin beettan» jedhe.

³ Maarre Muuse'ee fi Aaron gara mootichaa dhaqanee, «Mootiin Waan Maraa, Waaqi Ibrootaa, «Ati haga yoomii naaf ajajamuu didda? Kolbaan tiyya deentee akka na waaqonfattuuf gad lakkisi.

⁴ Ati kolbaa tiyya yoo gad lakkisuu didde, ani boru tuuta awwaannisaa biyya teetitti hin fida.

⁵ Awwaannisi sun haga latti mudhatiisa dhaddutti lafa hin golla. Waan diqqoo bokkeya dhaka'aa irraa hafe, muka diida keessatti quunxiisatti jirulle mara hin nyaata.

⁶ Mana keeti keessa, mana qondaaltota teetiitii fi mana worra Gibxootaa mara keessa hin guuta. Abbootiin teetii fi abbootiin abbootii teetii, lafa tanatti haga qubataneen jalqabaneen haga adhaa, waan kana ijjumaa dhag-ganee hin beekanu» jedha» jedhane. Achiin duuba Muuseen mooticha biraa bayee deeme.

⁷ Qondaaltoti mootichaalle, mootichaan, «Haga yoomii namichi kun tiyyoo nu'utti te'a? Kolbaan tun deentee Mootii Waan Maraa Waaqa ifii akka waaqonfattuuf gad lakkisi; ati worri Gibxi'ii akka badane haga ammaa hin hubannee?» jedhaneen.

⁸ Achiin duuba Muuse'ee fi Aaron waamamanee gara mootichaa deebi'anee dhufane; inni isaaniin, «Dhaqa'aatii, Mootii Waan Maraa, Waaqa keessan waaqonfadha'a! Garuu worri dhaqu kun eennu fa'a?» jedhe.

⁹ Muuseelle deebisee, «Tun jila Mootii Waan Maraatiif jilifannu waan teeteef, nuuti ijoolle'ee fi jaarsolee teenna, ilmaanii fi ijoollee durraa teenna, hoole'ee fi re'ee teenna, loon keennalle fudhannee hin deenna» jedhe.

¹⁰ Mootichille, «Isin dubartootaa fi ijoollee teessan fudhattanee akka deentanu, ani yoo gad isin lakkise, Mootiin Waan Maraa isin waliin jiraatuu ti; isin garuu waan hantuu yaadattaneertan.

¹¹ Waawwo'o! Ka isin gaafattane kanuma waan te'eef, worri dhiiraa callaan deemee Mootii Waan Maraa waaqonfatuu ti» jedhe. Achiin duuba Muuse'ee fi Aaron mooticha biraa ari'amane.

¹² Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Awwaannisi biyya Gibxi'ii irratti dhufee, waan bokkeya dhaka'aa irraa hafe maraa fi waan diida keessatti quunxiisatti jiru mara akka nyaatu harka keeti biyya Gibxi'ii irratti ol diriirsi!» jedhe.

¹³ Maarre Muuseen ulee ifii biyya Gibxi'ii irratti ol kaasee, guyya'aa fi halkan san Mootiin Waan Maraa qilleensi gara aduun baatuu lafa san irratti akka dhufu godhe; boruuyyaa ganama qilleensi awwaannisa fide.

¹⁴ Awwaannisi sun bacatee dhufee, lafa Gibxi'ii maratti tuute*. Balaan awwaannisaa ka akkasii tanaan qara ijumaa mudhatee hin beeku; gara duraalle hin jiraatu.

¹⁵ Haga gurraachottutti awwaannisi sun lafa gollee, waan bokkeya dhaka'aa irraa hafe mara, waan diida keessatti quunxiisatti jiru maraa fi midhaan muka irraa mara nyaate. Lafa Gibxi'ii mara irratti wonni magariis tokkolle hin hanne.

¹⁶ Mootichille Muuse'ee fi Aaron ariiti'iin waansisee, isaaniin, «Mootii Waan Maraa Waaqa keessanii fi isin irralle'etti cubbuu hujeera.

¹⁷ Amma yennaa tokko qofa cubbuu tiyya naaf araarama'a; balaa hamaa kana akka na irraa balleessuuf, gara Mootii Waan Maraa Waaqa keessanii naa daadimadha'a» jedhe.

¹⁸ Muuse'ee fi Aaronille mooticha biraa deemanee gara Mootii Waan Maraa daadimatane.

¹⁹ Mootiin Waan Maraa qilleensa gara qilleensa jabaa gara aduun seentuu-titti jijjiiree, qilleensi sun Awwaannisa san oofee abbaayaa diintu'utti† naqe. Biyya Gibxi'ii keessatti awwaannisi tokkolle hin hanne.

²⁰ Mootiin Waan Maraa ammoo mooticha mataa jabeessee, mootichi akka deemanuuf Israa'eloota gad lakkisuu didate.

Balaa Sagaleesso'oo; Dukkana

²¹ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Dukkanti dimmi biyya Gibxi'iititti akka buutu, harka keeti gara gubba'aa ol kaasi» jedhe.

²² Maarre Muuseen harka ifii gara gubba'aa ol kaasee, haga guyyaa sadii dukkanti dimmi biyya Gibxi'ii irratti buute.

²³ Haga guyyaa sadii san nami tokkolle wol dhagguu hin dandeenne yookiin addee jiranu sanii hin kaane. Te'uu malee, latti Israa'elooti leetu marti ifa qaddiyyu.

²⁴ Achiin duuba Mootichi Muusee waamee, «Dhaqa'aatii Mootii Waan Maraa waaqonfadha'a; dubartooti teessanii fi ijoolleen teessanille isin woliin dhaqanuu ti; hooleen, re'e'ee fi horiin keessan ammoo asitti hafanuu ti» jedhe.

²⁵ Muuseen ammoo deebisee, «Ciinca'aa fi kennansa gubamu ka Mootii Waan Maraa Waaqa keennaaf dhikeessinu ati nu'uuf kenni ree.

²⁶ Horiin keenna marti nu woliin dhaquu qaba; qenci tokkolle asitti hin hafu. Mootii Waan Maraa Waaqa kennaaf ka dhikeessinu isaan keessaa filanna; haga achi geennutti Mootii Waan Maraatiif ka dhikeessinu hin beennu» jedhe.

²⁷ Mootiin Waan Maraa mooticha mataa jabeessee, mootichi akka isaan deemanu hin feene.

²⁸ Mootichi Muuse'een, «Fuula kiyya duraa bayi! Deebitee fuula kiyya duratti akka hin mudhanne beekkadhu! Guyyaa fuula kiyya dhaggite, ati hin duuta!» jedhe.

* **10:14** Tuute: Yookiin heechat. † **10:19** Abbaayaa diintuu: Afaan Ibrootaatiin abbaayaa allaadu'uu jedhama.

²⁹ Muuseelle deebisee, «Akkuma ati jette, ani deebi'ee fuula keeti duratti hin mudhadhu!» jedheen.

11

Balaa Kudhaneesso'oo; Duuti Angafootaa Himante

¹ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Ani amma balaa tokko callaa mooticha Gibxi'iitii fi kolbaa isaa irratti hin fida; saniin duuba mootichi akka isin asii deentanu gad isin hin lakkisa; nami tokkolle adoo hin hafin isin maraayyuu hin ari'a.

² Kolbaan Israa'elii marti ollaa ifii irraa meya meeti'iitii fi worqi'ii gaafatane akka fudhatanu itti himi» jedhe.

³ Mootiin Waan Maraa worri Gibxi'ii akka Israa'eloota ulfeessanu godhe. Muuseelle biyya Gibxi'iititti, qondaaltota mootichaatii fi fuula kolba'aa mara duratti nama ulfinnaa te'e.

⁴ Maarre Muuseen mootichaan, «Mootiin Waan Maraa, «Halkan wodhakkaa ani lafa Gibxi'ii mara keessa hin deddeema;

⁵ ilmaan angafooti Gibxi keessaa marti hin du'an; ilma angaficha mooticha barcumaa mootumma'aa irraa tee'uun jalqabee haga ilmaan angafoota dubartoota garboolee daakuu daattuutitti, angafooti hori'iille martinuu hin du'an.

⁶ Biyya Gibxi'ii mara keessatti, iyyi wiiccifataa ka kanaan qara te'ee hin beenne yookiin ka gara duraalle hin teene hin te'a.

⁷ Namaa fi horii Israa'elootaattitti ammoo sareelle itti hin duttu; worra Israa'elootaattii fi worra Gibxi'ii oddu'utti Mootiin Waan Maraa garaagarummaa akka godhe kanaan hin beettan» jedheera» jedhe.

⁸ Muuseen, «Qondaaltoti teeti tun marti gara kiyya dhufanee, na duratti gad jedhane, «Atii fi kolbaan si gula deentu martinuu deema'a!» jedhane na hin kadhatan; saniin duuba ani hin deema» jedhe. Achiin duuba Muuseen aarii jaddu'uun mooticha biraa bayee deeme.

⁹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Bilbaasi kiyya biyya Gibxi'ii irratti akka bacatuuf, mootichi isin dhage'uu hin didata» jedheeraayyu.

¹⁰ Muuse'ee fi Aaronille fuula mootichaa duratti bilbaasota kana mara godhane; Mootiin Waan Maraa ammoo mooticha mataa waan jabeesseef, mootichi Israa'elooti biyya isaa keessaa akka bayanu gad hin lakkinne.

12

Seera Jila Irra Dabaramaa

¹ Mootiin Waan Maraa biyya Gibxi'ii keessatti Muuse'ee fi Aaroniin,

² «Jiin kun ji'a qaraa, ji'a jalqaba wogga'aa isiniif te'uu ti.

³ Ji'a kana guyyaa kudhaneesso'ootitti, nami tokko tokkooyyuu maatii ifitiif, buruusoo korbeessa hoole'ee yookiin re'e'ee tokko akka qopheessu wolde'a Israa'eliititti himi.

⁴ Maatiin takka buruusoo korbeessa hoole'ee yookiin re'e'ee san nyaatane fixiisaaf laakkossi isaanii yoo diqqaate, nami sun ollaa ifii woliin akkuma laakkossa namoota maatii saniititti qoodamanuu ti; haga nami tokko nyaatuu dande'u shallagane qoodamanuu ti.

⁵ Buruusoon sun korbeeyyii woggaa tokkoo ta fafa hin qanne te'anuu ti; isaan kana hoolee yookiin re'ee keessaa filadha'a.

⁶ Buruusoo san ji'a san keessa haga guyyaa kudhanii arfeesso'ootitti tisiitane, guyyaa kudhanii arfeesso'oo galgala dimimmisa kolbaan Israa'elii marti qalattuu ti.

⁷ Achiin duuba isaan dhiiga diqqaa isaa fuudhanee, mana foon itti nyaatanu san mikikkila balbalaa ka cinaa lamaaniituu, mikikkila balbalaa ka gubba'aalle dibanuu ti.

⁸ Halkanuma san foon san ibiddatti woddanee baala hadhowuu fi daabboo ukoo hin qanne waliin nyaatanuu ti.

⁹ Foon dheedhii yookiin foon iffeelame hin nyaatina'a; mataa, manye'ee fi meya gadha'aa waliin ibiddatti wodda'aatii nyaadha'a.

¹⁰ Foon san irraa tokkolle haga bari'iititti hin hamburina'a; yoo hafe ibiddaan guba'a.

¹¹ Jila irra dabaramaa ta ana Mootii Waan Maraa ulfeessiisaaf jilifattanu waan teeteef, yennaa nyaattanu, akka nama karaa deemiisaaf qophowee, woyaa uffadha'aa, kophee keyadha'aa, ulee teessan harkatti qabadha'aatii ariiti'iin nyaadha'a.

¹² «Halkanuma san ani biyya Gibxi'ii keessa deddeemee, waan angafa te'e mara, ka namaatii fi ka hori'iille hin ijjeesa; waaqota biyya Gibxi'ii mara irratti hin mura. Ani Mootii Waan Maraa ti.

¹³ Mana isin keessa jirtanu irratti dhiigi beessisa isiniif hin te'a; ani yennaa dhiiga san dhagge, isin irra hin dabara; Yennaa biyyaa Gibxi'ii ititti balaa buusu, isin irratti balaan tokkolle hin bu'u.

¹⁴ «Guyyaa kun guyyaa yaadanno'oo isiniif te'uu ti. Dhaloota dhufuufille seerata bara baraa te'ee, ana Mootii Waan Maraa ulfeessiisaaf jilifattan.

¹⁵ «Guyyaa jila tanaa guyyaa torba daabboo ukoo hin qanne nyaadha'a; guyyaa jalqabaatii haga guyyaa torbeesso'oo nami daabboo ukoo qaddu nyaate Israa'el keessaa waan bawuuf, guyyaa tokkeesso'oo daabboo ukoo qaddu mana keessan keessaa balleessa'a.

¹⁶ Guyyaa tokkeesso'ootii fi guyyaa torbeesso'oo yaa'ii woyyittii godhadha'a. Guyyoota kana nami marti waan nyaatu qopheeffatuutii malee, hujii tokkolle hin hujina'a.

¹⁷ «Ani guyyaa kanatti kolbaa tiyya biyya Gibxi'ii keessaa waan baaseef, jila daabboo ukoo hin qannee jilifadha'a; guyyaa kana dhaloota dhufuufille seerata bara baraa godhadha'aatii eegadha'a.

¹⁸ Ji'a jalqabaa, guyyaa kudhanii arfeesso'oo galgala irraa jalqaddanee haga guyyaa diddamii tokkeesso'oo galgalaatitti daabboo ukoo hin qanne nyaadha'a.

¹⁹ Haga guyyaa torbaa ukoon ijumaa mana keessan keessatti hin dhaggamin; alagaa yookiin dhalataa biyyaalle yoo te'e, nami waan ukoo qabu nyaate kolbaa Israa'elii keessaa bayuu qaba.

²⁰ Addee jirtanu maratti daabboo ukoo hin qanne nyaadha'a malee, waan ukoo qabu hin nyaatina'a» jedhe.

Jila Irra Dabaramaa Ta Jalqabaa

²¹ Achiin duuba Muuseen jaarsolee Israa'elootaa mara waamee, «Ariifadha'aa dhaqa'aatii akka maatii maatii keessaniititti buruusoo korbeessa hoole'ee yookiin re'e'ee filadha'aatii, Jila Irra Dabaramaatiif qaladha'a.

²² Baala muka hisoophii qabaa tokko fuudha'aatii, dhiiga qorii keessaatitti cuupha'aatii, mikikkila balbalaa ka cinaa lamaaniituu, mikikkila balbalaa ka gubba'aalle diba'a; haga ganamaatitti nami tokkolle mana ifitii gad hin bayin.

²³ Mootiin Waan Maraa balaa buusiisaaf, biyya Gibxi'ii keessa yennaa deddeemu, mikikkila balbalaa ka cinaa lamaaniituu irratti, mikikkila balbalaa ka gubba'aa irralle'etti dhiiga dhaggee, balbala san irra hin dabara. Ka balleessu sun mana keessan seenee akka isin ijjeesu itti hin lakkisu.

²⁴ Isinii fi sanyiin teessan seerata haga bara baraa ka isiniif kenname kanaaf ajajamuu qaddan.

²⁵ Lafa Mootiin Waan Maraa isinii kenniisaaf waadaa gale sanitti yennaa galtane seerata kana eegadha'a.

²⁶ Ijoolleen teessan, «Jilti tun ta maanii ti inni?» jettee yennaa isin gaafattu,

²⁷ isin ammoo, «Mootiin Waan Maraa biyya Gibxi'ii irratti balaa yennaa buuse, biyya Gibxi'ii keessatti mana Israa'elootaa irra dabaree, qe'ee teenna waan hambureef, ciincaa Jila Irra Dabaramaa ta Mootii Waan Maraa ti» jedha'aan» jedhe. Achiin duuba kolbaan gad jettee sagadde.

²⁸ Israa'elootille waan Mootiin Waan Maraa Muuse'ee fi Aaron ajaje mara goote.

Balaa Kudhaneesso'oo; Du'a Angafootaa

²⁹ Halkan wodhakkaa Mootiin Waan Maraa biyya Gibxi'ii keessatti angafa te'anee ka dhalatane mara, ilma angaficha mooticha barcumaa mootummaa irra tee'uutii jalqabee, haga angafoota worra mana hidha'aa ka boollaa keessa jiruutii fi angafoota hori'ii mara ijjeese.

³⁰ Halkan san mootichi, qondaaltoti isaatii fi worri biyya Gibxi'ii marti hirriibaa ka'ane; manni nami keessaa hin du'in tokkolle waan hin jirreef, biyya Gibxi'ii keessatti iyyi wiiccifataa te'e

³¹ Halkanuma san mootichi Muuse'ee fi Aaron waansisee, «Ka'a'a! Isinii fi Israa'elooti kolbaa tiyya keessaa baya'a! Akkuma jettane dhaqa'aatii Mootii Waan Maraa keessan waqonfadha'a.

³² Akkuma jettane hoolee, re'e'ee fi loon keessan fudhadha'aatii deema'a. Analle eebbisa'a» jedhe.

³³ Worri Gibxi'ii, «Nuuti martinuu hin dhumanna» waan jedhaneef, akka Israa'elooti biyya isaanii keessaa ariifatanee bayanu muddane.

³⁴ Tanaaf Israa'elooti bukoo ifii uukoo adoo itti hin naqin meya bukoo itti bukeessanutti naqanee, woya'aan maranee, fuudhanee gurmu'utti kaafatane.

³⁵ Israa'elooti akkuma Muuseen isaanitti hime, meya meeti'ii, meya worqi'iitii fi woyaa akka isaanii kennanu, worra Gibxi'ii gaafatane.

³⁶ Mootiin Waan Maraalle worri Gibxi'ii Israa'eloota akka ulfeessanu waan godheef, waan isaan gaafatane mara isaanii kennane; tanaaf Israa'elooti worra Gibxi'ii irraa qabeenna isaanii guuratanee bayane.

Israa'elooti Gibxi Keessaa Bayane

³⁷ Israa'elooti Raamsesii ka'anee haga Suukootii deemane; isaan dubartootaa fi ijoollee malee* nama kuma dhibba jaa.

³⁸ Worri Israa'eloota hin te'in kolbaan hedduun, hooleen, re'e'ee fi loon baca'atti isaan woliin baye.

³⁹ Isaan bukoo biyya Gibxi'iitii fudhatanee bayane saniin daabboo uukoo hin qanne bilcheeffatane; yennaa Gibxi keessaa bayanu ariiti'ii waan bayaneef, bukoo isaanii keessa uukoon hin jirtu; ideensa kara'aatiif galaa qopheeffatiisaafille yennaa dhabane.

⁴⁰ Israa'elooti woggaa dhibba afurii fi soddoma biyya Gibxi'ii keessa le'ane.

⁴¹ Dhuma woggaa dhibba afurii fi soddomaa sanitti, kolbaan Mootii Waan Maraa marti biyya Gibxi'ii keessaa baate.

⁴² Mootiin Waan Maraa halkan biyya Gibxi'ii keessaa isaan baase san waan isaan eegeef, halkan sun dhaloota Israa'elootaa mara keessatti ulfinna

* **12:37** Dubartootaa fi ijoollee malee: Ijoolle'ee fi dubartiin adoo hin laakkowamin jechu'u.

Mootii Waan Maraatiif kenniisaaf, Israa'elooti marti eeddoo irra buluu qaban.

Jilti Irra Dabaramaa Attam Akka Jilifantu

⁴³ Mootiin Waan Maraa Muuse'ee fi Aaroniin, «Kun seerata Jila Irra Dabaramaa ti; nami ormaa sagalee Jila Irra Dabaramaa hin nyaatin;

⁴⁴ garbichi bitattane garuu haqanqabaa isa qaddaneen duuba nyaatuu dande'a.

⁴⁵ Nami keessumma'aa yookiin tajaajilaan qaxarame ammoo nyaatuu hin dande'u.

⁴⁶ «Sagalee san mana tokko keessatti nyaadha'a malee, foon san irraa tokkolle mana keessaa gad hin bayin; lafee foon sanii hin cassina'a.

⁴⁷ «Kolbaan Israa'elii marti jila tana jilifatu qaban;

⁴⁸ Alagaan isin woliin le'u, jila Mootii Waan Maraa ulfeessiisaaf jilifattanu tana ka jilifatiisaaf barbaade, ilmaan isaa marti haqanqabaa qabatuu qaban; achiin duuba akka dhalataa biyyaa te'ee jila tanatti hirmaatuu ti. Nami haqanqabaa hin qabatin ammoo sagalee jila sanii hin nyaatin.

⁴⁹ Seerri kun isinii fi alagaa isin woliin le'uufille tokkochuma te'uu ti» jedhe.

⁵⁰ Israa'elooti marti waan Mootiin Waan Maraa Muuse'ee fi Aaron ajaje mara godhane.

⁵¹ Mootiin Waan Maraa guyyuma san gumii kolbaa Israa'elii mara biyya Gibxi'ii keessaa baase.

13

Angafoota Waaqaaf Adda Baasuu

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

² «Waan angafa te'ee dhalate mara naaf adda baasi. Israa'eloota keessatti ka gadaamessa saaqe, ka namaatii fi ka hori'iille kiyya te'uu ti» jedhe.

³ Achiin duuba Muuseen kolba'aan, «Mootiin Waan Maraa, irree jaddu'uun achi keessaa waan isin baaseef, lafa garbumma'aa, biyya Gibxi'ii keessaa guyyaa baatane kana qaabadha'a. Guyyaa kana waan uukoo qabu hin nyaatina'a.

⁴ Guyyaa adhaa, ji'a «Abiib» jedhamu keessa biyya Gibxi'ii keessaa bayaartan.

⁵ Mootiin Waan Maraa lafa aananii fi dammaa ta inni isinii kenniisaaf, abbootii teessan ta duriitiif waadaa gale lafa kana'aanotaa, lafa Heetotaa, lafa Amoorotaa, lafa Hiiwotaatii fi lafa Yibusootaa sanitti yennaa galtane, ji'a kana keessa jila tana jilifattan.

⁶ Guyyaa torba daabboo uukoo hin qanne nyaattanee, guyyaa torbeesso'oo ulfinna Mootii Waan Maraatiif jila jilifattan.

⁷ Guyyaa torbaan kana daabboo uukoo hin qanne nyaattan; daabboon uukoo qaddu adaala lafa teessanii keessa eessalle hin jiraatin.

⁸ Guyyaa san isin, «Kun yennaa nuuti biyya Gibxi'ii keessaa baane waan Mootiin Waan Maraa nu'uuf godhe» jettanee ilmaan teessanitti hintan.

⁹ Mootiin Waan Maraa irree jadduu ifitiin biyya Gibxi'ii keessaa waan isin baaseef, seerri Mootii Waan Maraa afaan keessanii akka hin buune, akka beessisa harka keessan irraatii fi akka yaadannoo adda keessan irraa isinii hin te'a.

¹⁰ Seera jila tanaa eegadha'aatii guyyaa isaaf murteeffame sanitti woguma wogga'aan jilifadha'a.

Seera Angafootaa

¹¹ «Mootiin Waan Maraa akkuma isinii fi abbootii teessan ta duriitiif waadaa gale lafa Kana'aanotaa sanitti isin galchee, yennaa isiniif kenne,

¹² ilmaan angafoota gadaamessa haadhaa saaqane mara, horii keessalle'ee kormaa fi korbeessa ka matooma dhalate Mootii Waan Maraatiif kenna'a.

¹³ Harree wodala ka matooma dhalate mara ammoo buruusoo korbeessa hoole'eetiin wodadha'a; yoo wodatiisa dhaddane morma isaa cassa'a. Ilmaan teessan ta angafa dhalatte mara wodadha'a.

¹⁴ «Hegeri ilmi keeti, «Wonni ati tolchitu kun maan» jedhee yoo si gaafate, tokko tokkoon keessan, «Mootiin Waan Maraa irree jadduu ifitiin lafa garbumma'aa biyya Gibxi'ii keessaa nu baase.

¹⁵ Mootichi biyya Gibxi'ii mataa jabaatee yennaa gad nu lakkisuu dide, Mootiin Waan maraa ammoo, waan angafa te'ee biyya Gibxi'ii keessatti dhalate, ka namaatii fi ka hori'ii mara ijeese. Tanaaf horii keessaa angafa te'ee ka dhalate, kormaa fi korbeessa mara Mootii Waan Maraatiif ciincaa dhikeessinee, ilmaan angafoota ammoo wodanna» jedha'aa itti hima'a.

¹⁶ Mootiin Waan Maraa irree jadduu ifitiin biyya Gibxi'ii keessaa waan nu baaseef, akka beessisa harka keeti irraatii fi akka yaadannoo adda keeti irraa si'iif hin te'a jedhiin» jedhe.

Utubaa Duumensaatii Fi Utubaa Ibiddaa

¹⁷ Mootichi biyya Gibxi'ii kolbaan akka deentuuf yennaa gad lakkise, Waaqi, «Lolli yoo isaanitti ka'e kolbaan tun yaada ifii jijjiiratee, gara biyya Gibxi'ii deebiti» jedhee waan yaadeef, karaa lafa Filisxeemotaatiin isaan hin soressine.

¹⁸ Tanaaf Waaqi akka kolbaan karaa lafa goomole'ee keessa dabartee gara abbaayaa diintu'uu geessu irra martee akka ideentu godhe. Israa'elootille lolaaf qophowanee, biyya Gibxi'ii keessaa bayane.

¹⁹ Yoseef, «Waaqi dhugumaan isin hin yaadata; achiin duuba isin lafee tiyya fuudha'aa asii baya'a» jedhee Israa'eloota waan kakachiiseeruuf, Muuseen lafee Yoseefii fuudhee baye.

²⁰ Israa'elooti Suukootii ka'anee, irga goomolee Etaamiititti qubatane.

²¹ Akka isaan halkanii fi guyyaa deemuu dande'anuu, Mootiin Waan Maraa guyyaa utubaa duumensaatiin isaan soressaa, halkan utubaa ibiddaatiin ifa isaaniif issaa isaaniin dura deeme.

²² Guyyaa utubaan duumensaa, halkan utubaan ibiddaa kolbaa duraa yennaan dhabame hin jiru.

14

Abbaayaa Diintuu Qaxxaamurane

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

² «Israa'elooti deebi'anee Phihihirot bira, wodhakkaa Miigdoliitii fi abbaayaa diintu'uu*, fuullee Ba'aal-Zefonii qarqara abbaaya'aa akka qubatanu itti himi.

³ Mootichi Gibxi'ii, «Goomoleen karaa wollaalchittee, Israa'elooti joonjane lafa keessa maran» jedhee hin herrega.

⁴ Ani mataa isaa waan jabeessuuf, inni isaan hin hordofa; ani ammoo mootichaa fi loltoota isaa mara irratti ulfinna hin dhaggadha; worri Gibxi'iille akka ani Waaqa te'e kanaan beekan» jedhe. Israa'elootille akkuma isaanitti himame godhane.

* **14:2** *Abbaayaa diintuu:* Afaan Ibrootaatiin abbaayaa allaadu'uu jedhama

⁵ Kolbaan akka baqattee baate mooticha Gibxi'iititti yennaa himane, inni fi qondaaltoti isaa yaada jijjiiratanee, «Kolbaan Israa'elii nu'uuf hujiisa lakkisanee akka deemanu tolchuun keenna kun maan?» jedhane.

⁶ Maarre mootichi garreettaa ifii ka fardaan harkifamuu fi loltoota ifii qopheeffate.

⁷ Inni garreettaa fardaan harkifamuu ka filame dhibba jaa, garreettaa fardaan harkifamuu ka worra Gibxi'ii ka dhibiille ajajjoota isaanii woliin fudhatee ka'e.

⁸ Mootiin Waan Maraa mooticha mataa jabeessee, Israa'eloota irree jaddu'uun bayiisatti jiranu hordofe.

⁹ Worri Gibxi'ii, abbootiin fardaa ta mootichaatii fi garreettaan fardaan harkifamuu ka mootichaa, abbootiin fardaa ta dhibi'ii fi loltooti miilaa isaan hordofanee, fuullee Ba'aal-Zefonii abbaayaa diintuu qarqara, Phiihahirot bira qubataneeranuun isaan dhaqqabane.

¹⁰ Mootichii fi loltooti isaa isaan hordofanee akka itti dhikaatane dhagganee, Israa'elooti guddoo sodaatanee gara Mootii Waan Maraa iyyane.

¹¹ Isaan Muuse'een, «Biyya Gibxi'ii keessa addeen awwaalaa waan hin jirreef goomolee keessatti akka dhumannuuf as nu fiddee? Biyyaa Gibxi'ii keessaa nu baatee wonni ati nu tolchite kun maan?

¹² Nuuti biyya Gibxi'ii keessatti, «Goomolee keessatti du'iisaa manna, worra Gibxi'iitiif garboota teenee akka tajaajillu, nu lakkisi» ta si'iin jenne tanaafii motii?» jedhane.

¹³ Muuseelle deebisee, «Worra Gibxi'ii ka adha dhaggitanu kana deebitanee lammeessoo waan hin dhaggineef, hin sodaatina'a; jabaadha'aatii dhaabbadha'a; adha Mootiin Waan Maraa isin baasiisaaf, waan inni tolchu ilaala'a.

¹⁴ Mootiin Waan Maraa isiniif waan loluuf itita'a» jedhe.

¹⁵ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Isin maaf gara kiyya iyyitan? Isaan gara duraa akka deemanu Israa'elootatti himi.

¹⁶ Ati ammoo ulee teeti fudhadhuutii, harka keeti abbaayaa irra diriirsi; akka Israa'elooti abbaayaa keessa lafa godduu irra gamatti bu'anu, bisaan gargar kuti.

¹⁷ Gibxooti akka Israa'eloota gula seenanu ani gadhaa isaanii hin jabeessa. Ani mootichaa fi loltoota isaa mara irratti, garreettaa fardaan harkifamuu fi abbootii fardaa ta isaa irratti ulfinna hin dhaggadha.

¹⁸ Yennaa ani mooticha irratti, garreettaa isaa ka fardaan harkifamuu fi abbootii fardaa ta isaa irratti ulfinna dhaggadhe, worri Gibxi'ii akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beekan» jedhe.

¹⁹ Ergamaan waaqaa ka Israa'elootaan dura deemaa ture, duubatti dabaree isaaniin duuba deeme; utubaan duumensaalle duubatti dabaree dhaabbatee,

²⁰ worra Gibxi'iitii fi Israa'eloota odduu seenee, halkan san duudii mogguu Israa'elootaatitti ifa kennee, mogguu Gibxootaa ammoo dukkaneesse.

²¹ Muuseelle harka ifii abbaayaa irra diriirse; Mootiin Waan Maraa ammoo halkan guutuu qilleensa jabaa gara aduun baatuu kaasee abbaayaa gara duubaa deebisee, bisaan gargar kutee, lafa godduu tolche.

²² Israa'elootille bisaan middaa fi bitaa isaaniititti akka dalleya dhaka'aa te'ee dhaabbateeruun lafa godduu irra abbaayaa keessa qaxxaamurane.

²³ Worri Gibxi'iille fardoolee mootichaatiin, garreettaa isaa ka fardaan harkifamuu fi abbootii fardaa maraan isaan ari'anee, isaan gula abbaayaa odduu seenane.

²⁴Yennaa latti bariite Mootiin Waan Maraa utubaa ibiddaatii fi duumensa keessaa loltoota worra Gibxi'ii gad ilaalee, akka isaan gara itti goranu wollaalanu godhe.

²⁵Korboo garreettaa fardaan harkifamu ka isaanii akka dhaabbattu godhe. Worri Gibxi'iille, «Mootiin Waan Maraa isaaniif jedhee, nu worra Gibxi'ii loliisatti waan jiruuf, kowa'a Israa'eloota duraa baqanna» jedhane.

²⁶Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Bisaan worra Gibxi'ii irra, garreettaa isaanii ka fardaan harkifamuu fi abbootii fardaa ta isaanii irra akka garagaluuf, harka keeti abbaayaarra diriirsi» jedhe.

²⁷Muuseelle harka ifii abbaayaarra diriirse; abbaayaalle ganama addee ifiititti deebite. Worri Gibxi'ii isii duraa gara duubaa baqate. Mootiin Waan Maraa akka isaan abbaayaa keessatti hafanu godhe.

²⁸Bisaan sun adde'etti deebi'ee garreettaa fardaan harkifamuu fi abbootii fardaa, loltoota mootichaa mara worra Israa'eloota gula gara abbaaya'aa seenane mara liqinse; isaan keessaa nami tokkole hin hanne.

²⁹Israa'elooti ammoo bisaan middaa fi bitaa isaaniititti akka dalleya dhaka'aa te'ee dhaabbateeruun lafa godduu irra abbaayaa keessa qaxxaa-murane.

³⁰Guyyaa san Mootiin Waan Maraa Israa'eloota harka worra Gibxi'ii jalaa baase; Israa'elootille reeffa worra Gibxi'ii ka abbaayaa qarqara ciisu dhaggane.

³¹Mootiin Waan Maraa irree jadduu ifitiin worra Gibxi'ii irratti waan huje yennaa dhaggane, Israa'elooti Mootii Waan Maraa sodaatanee, isaa fi Muusee tajaajilaa isaatitti addatane.

15

Faaruu Muuse'eetii fi Miiriyamii

¹Achiin duuba Muuse'ee fi Israa'elooti faaruu asii gad jirtu tana Mootii Waan Maraatiif faarfatanee,

«Mootiin Waan Maraa
abbootii fardaatii fi fardoo isaanii
abbaaya'atti naqee,
ulfinna waan dhaggateef,
ani isaaf hin faarfadha.

²Mootiin Waan Maraa jabeenna naa te'ee,
akka faarfadhu na tolcheera;
inni fayyinna naa te'eera.

Inni Waaqa kiyya;
anille isa hin leellifadha;
Waaqa abbaa kiyyaa,
ani isa hin saadadha.

³Mootiin Waan Maraa lolticha goota;
Maqaan isaa Mootii Waan Maraa ti.

⁴Inni garreettaa mootichaa ka fardaan harkifamuu fi
loltoota isaa abbaaya'atti naqe;
qondaaltoti mootichaa worri filamane
abbaayaa diintuu keessatti liqinfamane.

⁵Bisaan qileen isaan irra garagale;
akka dhaka'aa abbaaya'atti gad lixane.

⁶«Ee Mootii Waan Maraa,
harki keeti middichi,
hunnaan arnya qaba.

- Ee Mootii Waan Maraa,
 harki keeti middichi diinota butuche.
⁷ Guddinna arnya keetiitiin
 worra si mormu balleessite.
 Mufii teeti ta akka ibiddaa bobeettu itti ergitee,
 akka huuraa isaan muxuqi goote.
⁸ Hafuura funnaan keetiitiin,
 bisaan tuulame.
 Bisaan yaa'u akka dalleya dhaka'aa dhaabbate;
 bisaan qile'ee abbaayaa wodhakka'atti itite.
- ⁹ «Diinni kooree, «Ani isaan hin ari'a;
 isaan hin qaba;
 booji'ee karra isaanii hin qoodama;
 waan fedhe mara irraa hin fudhadha.
 Shallaagaa kiyya hin buqqifadha;
 harki kiyyalle isaan hin balleessa» jedhe.
¹⁰ Ati ammoo hafuura keeti itti baafannaan,
 abbaayaani isaan irra garagaltee,
 akkuma sibiilaa
 bisaan jabaa keessatti liqinfamane.
- ¹¹ «Ee Mootii Waan Maraa,
 waaqota keessaa ka akka keetii eennu?
 Ka arnya woyyumma'aa qabu,
 ka ulfinnaan sodaatame,
 ka bilbaasa huju,
 ka akka keetii eennu?
¹² Ati harka keeti middicha diriirsitee,
 latti isaan liqinsite.
- ¹³ «Ati jaalala keeti ka bara baraatiin
 kolbaa wodatte hin sooressita;
 jabeenna keetiin gara addee woyyitti'ii
 isaan hin geessita.
¹⁴ Gosi biyya adda addaa dhageettee hin hollatti;
 worri biyya Filisxeemotaalle hin muddaman.
¹⁵ Bulchitooti Edoomii hin bararaqan;
 Sooressitooti Mo'aabii sodaatanee hin romman;
 kolbaan Kana'aaniille hin sheephitti.
- ¹⁶ Ee Mootii Waan Maraa,
 kolbaa teetiif haga dabartutti
 kolbaan ati wodatte haga dabartutti
 hunna irree teetiitiin
 isaan akka dhaka'aa hin cadhisan;
 bararaqii fi naasuun isaanitti hin buuti.
¹⁷ Ee Mootii Waan Maraa, addee woyyittii teetitti
 Ee Gootta'a, addee harki keeti ijaare sanitti
 isaan galchitee,
 lafa teeti kooba gubbaa irratti
 isaan hin qubachiitta.
¹⁸ Mootiin Waan Maraa
 haga bara baraa hin bulcha» jedhane.

Faaruu Miiriyamii

¹⁹ Fardoon, garreettaan fardaan harkifamuu fi abbootii fardaa ta mootichaa abbaayaa keessa yennaa timane, Mootiin Waan Maraa bisaan abbaaya'aa isaan irra garagalchee, Israa'elooti ammoo abbaayaa keessa lafa godduu irra ideemanee qaxxaamurane.

²⁰ Achiin duuba Miiriyamiin raagittiin, obboleettiin Aaronii, dibbee fudhattee baatee, dubartooti martinuu dibbee dhowaa, sirbaa isii gula yaa'ane.

²¹ Miiriyamille, faarfatee, isaaniin
«Inni akka malee waan saadameef,
Mootii Waan Maraatiif faarfadha'a.
Inni fardo'oo fi abbootii fardo'oo
abbaaya'atti naqeera» jette.

Bisaan Hadhowu

²² Achiin duuba Muuseen kolbaa Israa'elii abbaayaa diintu'uu kaasee, gara lafa goomole'ee Shuur geesse. Isaan guyyaa sad bisaan adoo hin dhaggatin goomolee keessa deemane.

²³ Isaan yennaa gara Maaraa dhufane, bisaan Maaraa sun waan hadhowuuf, uniisa hin dandeenne. Tanaaf maqaan addee sanii, «Maaraa*» jedhame.

²⁴ Maarre kolbaan, «Maan unna?» jettee Muuse'etti gungunte.

²⁵ Achiin duuba Muuseen gara Mootii Waan Maraa iyyee, Mootiin Waan Maraa muka tokko itti mudhise; innille muka san bisaanitti qolaansee, bisaan sun tole.

Achitti Mootiin Waan Maraa seerataa fi seera isaaniif kennee, achumatti haga isaan ilaale.

²⁶ Inni, isaaniin, «Isin qoonqoo ana Mootii Waan Maraa ta Waaqa keessanii miidhassitanee yoo caqattane, fuula kiyya duratti waan sirrii te'e yoo tolchitane, ajaja kiyya yoo qalbeeffattane, seerata kiyya maralle yoo eegattane, dhukkuba worra Gibxi'iititti fide mara tokkolle isinitti hin fidu; ani Mootii Waan Maraa ka isin fayyisu» jedhe.

²⁷ Achiin duuba isaan Eliim addee maddi kudhanii lamaa fi muki meexxi'ii torbaatam jiru dhufanee, achi bisaan bira qubatane.

16

Manna'aa fi Barbadi-kille

¹ Kolbaan Israa'elii marti biyya Gibxi'iitii bayaneen duuba, ji'a lammeesso'oo guyyaa kudhanii shaneesso'oo, Eliimii ka'anee gara goomolee Siinii ta Eliimii fi gaara Siina'aa wodhakkaa jirtuu dhufane.

² Kolbaan Israa'elii marti goomolee san keessatti Muuse'ee fi Aaronitti gungumanee,

³ isaaniin, «Achi biyya Gibxi'ii keessatti okkotee foonii cinaa teennee, daabbo'oo fi foon haga feene nyaataa harka Waaqaatitti adoo dhumannee nuu woyya. Isin ammoo kolbaa duudii goomolee tana keessatti beelaan fixiisaaf as fiddane» jedhane.

⁴ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Kunoo ani amma sagalee ol gubbaa irraa gad isiniif roobisiisa; kolbaalle gad baatee, guyyuma guyya'aan ta guyyaa tokkoof teetu qofa guurrattuu ti. Ani tanaan akka isaan ajaja kiyya eegatanu haga isaan ilaala.

⁵ Guyyaa jayeesso'oo, ka qara guyyaa tokkoof guuratanu san harka lama guuratanuu ti» jedhe.

* **15:23 Maaraa:** Afaan Ibrootaatiin hadhowaa jechu'u.

⁶ Maarre Muuse'ee fi Aaronille Israa'eloota maraan, «Biyya Gibxi'ii keessaa ka isin baase Mootii Waan Maraa akka te'e, galgala adhaa hin beettan;

⁷ Inni gungunsuu isin isa irratti gunguntane waan dhage'eef, boru ganama ulfinna Mootii Waan Maraa hin dhaggitan; nuuti womaa moti; isa irratti gunguma'a malee, nu irratti hin gungumina'a» jedhane.

⁸ Achiin duuba Muuseen, «Mootiin Waan Maraa gungunsuu isin isa irratti gunguntane waan dhage'eef, galgala foon isin nyaattanu, ganama daabboo isin barbaaddanu mara yennaa isinii kenne, akka inni Mootii Waan Maraa te'e hin beettan. Nuuti womaa moti; isin isa irratti gunguntane malee, nu irrattii moti» jedhe.

⁹ Achiin duuba Muuseen Aaroniin, «Kolbaa Israa'elii maraan, «Mootiin Waan Maraa gungunsuu teessan waan dhage'eef, fuula isaa dura dhikaadha'a» jedhiin» jedhe.

¹⁰ Aaron kolbaa Israa'elii maratti adoo dubbatiisatti jiruu, isaan gara goomole'ee ilaalanee, achitti ulfinni Mootii Waan Maraa duumensa keessatti mudhate.

¹¹ Ammalle Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

¹² «Ani gungunsuu Israa'elootaa dhage'eera. Ati isaaniin «galgala adhaa dimimmisa foon hin nyaattan; ganama daabboo hin quuttan; achiin duuba ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan akka te'e hin beettan» jedhiin» jedhe.

¹³ Galgala san barbadi-kille dhuttee addee quttumaa guutte; ganama fixeensi adaala addee quttumaa san jiraayyu.

¹⁴ Yennaa fixeensi bu'e, solloqqeen hephelleen dhakaa roobaa fakkaattu, diida lafa goomole'ee irratti mudhatte.

¹⁵ Israa'elooti yennaa waan san dhaggite, maan akka te'e waan hin beenneef, «Wonni kun maan inni?» jedhane wol gaafatane.

Muuseen isaaniin, «Wonni kun akka isin nyaattanuuf, daabboo Mootiin Waan Maraa isiniif kenne.

¹⁶ Mootiin Waan Maraa, «Tokko tokkoon keessan haga isiniif barbaachisu guuradha'a. Nama dunkaanii teessan keessa jiru tokko tokkoofuu Omeera tokko* fuudha'a» jedhee ajajeera» jedhe.

¹⁷ Israa'elootille akkuma isaanitti himame tolchane; gariin bacaa, gariin diqquma guuratane;

¹⁸ yennaa safaratane, ka bacaa guurrateef irraa hin hanneef; ka diqqeessee guurateefille irraa hin dhidhanne; nami tokko tokkooyyuu haguma isaaf barbaachise guurate.

¹⁹ Achiin duuba Muuseen isaaniin, «Nami tokkolle waan guurate san boruuf hin bulfatin» jedhe.

²⁰ Te'uu malee worri gariin jecha Muuse'ee dhageettaa didee, waan guurate san irraa boruuf bulfate; wonni sun ammoo corroqottee ajootte; Maarre Muuseen isaanitti aare.

²¹ Ganama ganama nami martinuu haga nyaataaf isaanii barbaachisu guuratane; yennaa aduun o'ite wonni sun baxxe.

²² Guyyaa jayeesso'oo nami martinuu litirii lama, dachaa lama guurate; sooressitooti kolba'aa gara Muuse'ee dhufanee waan kana isatti himane;

²³ innille deebisee isaaniin, «Mootiin Waan Maraa, guyyaan boruu isaaf wooyoomee guyyaa foora akka te'u ajajeera; tanaaf adhuma waan bilcheeffattanu bilcheeffadha'a, waan iffeelattanulle iffeeladha'a; waan hafe haga boru ganamaatitti maffadha'a» jedhe.

* **16:16 Omeeri tokko:** Omeeri tokko gara litirii lamaa ti.

²⁴ Isaanille akkuma Muuseen ajaje haga ganamaatitti maffatane; wonni sunille hin ajoonne yookiin hin corroqoonne.

²⁵ Muuseen, «Adha kanuma nyaadha'a; sababille guyyaan adhaa Sanbata guyyaa foora ka Mootii Waan Maraatiif woyyoome waan te'eef, waan nyaattanu kana adha tokkolle lafa irratti hin dhaggitanu.

²⁶ Guyyaa jaa waan nyaataa kana guuradha; guyyaan torbeesso'oo, guyyaa foora Sanbata ammoo wonni tokkolle hin jiraattu» jedhe.

²⁷ Te'uu malee, guyyaa torbeesso'oo san worri gariin waan nyaatanu san guuratiisaaf yaa'ane; ammoo waan tokkolle hin dhagganne.

²⁸ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Isin haga yoomii ajajaa fi seerata kiyya eegatuu diddan?

²⁹ Ani Mootiin Waan Maraa guyyaa foora Sanbata akka isiniif kenne qalbeeffadha'a; tanaaf ani gaafa guyyaa jayeesso'oo waan nyaattanu ta guyyaa lamaa isiniif kenne. Guyyaa torbeesso'oo eennulle addee jiru turuu ti malee, qe'ee ifiitii hin bayin» jedhe.

³⁰ Maarre guyyaa torbeesso'oo kolbaan foorfatte.

³¹ Kolbaa Israa'elii waan nyaatanu saniin «Mannaa» jette. Wonni sun adii akka midhaan dinbilaalaa, mi'aan isaalle akka daabboo dammaan hujantee ti.

³² Muuseen, «Mootiin Waan Maraa, «Biyya Gibxi'ii keessaa yennaa isin baase, lafa goomole'ee keessatti mannaa isin nyaachisaa ture kana, dhalooti dhufulle akka dhagguuf, mannaa kana irraa Omeerii tokko massa'a» jedhee ajajeera» jedhe.

³³ Maarre Muuseen Aaroniin, «Okkotee fuudhiiti, mannaa litirii tokko itti naqi. Achiin duuba fuula Mootii Waan Maraa duratti, dhaloota dhufuuf massi» jedhe.

³⁴ Akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajaje, Aaron mannaa san Saanduqa Gondooro'oo duratti masse.

³⁵ Israa'elooti lafa itti qubatane Kana'aan haga geyanutti woggaa afurtama mannaa nyaatane.

³⁶ Omeeriin tokko eefaa[†] harka kudhan keessaa harka tokko.

17

Bisaan Rassaa Keessaa Burqe

¹ Kolbaan Israa'elii marti akkuma Mootiin Waan Maraa isaan ajaje goomolee «Siin» jedhantuu ka'anee, addee takka irraa gara addee takkaa adoo deddeemanuu, lafa «Refiidiim» jedhantu qubatane; addee san ammoo bisaan unanu hin jiru.

² Tanaaf isaan «Bisaan unnu nuuf kenni» jedhanee Muuse'etti moromaa kaasane.

Muuseen deebisee, «Isin maaf moromaa natti kaachan? Mootii Waan Maraalle maaf haga ilaaltan?» jedhe.

³ Kolbaan ammoo akka malee dheebottee, «Nuuti, ijoolleen teennaa fi horiin keenna dheebu'uun akka dhumannuuf ati biyya Gibxi'ii keessaa nu baattee?» jedhanee Muuse'een wol dhabane.

⁴ Achiin duuba Muuseen, «Ani kolbaa tana maan godha? Kunoo isaan dhaka'aan na tumiisaaf qopheeffataneeran» jedhee, gara Mootii Waan Maraa iyye.

⁵ Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Sooressitoota kolbaa Israa'elii keessaa garii fudhadhuutii, ulee teeti ta laga Nayiliitiin dhoottelle qabadhuutii, kolba'aan dura deemi.

[†] 16:36 Efaan tokko: Gara kiiloo kudhanii shanii ti.

⁶ Anille gaara Siina'aatitti rassaa irra si dura hin dhaabbadha; ati rassaa san hin dhootta; akka kolbaan untuuf, bisaan rassaa san keessaa hin burqa» jedhe. Muuseelle sooressitoota Israa'elii duratti akkasuma godhe.

⁷ Israa'elooti, «Mootiin Waan Maraa nu woliin jira moo hin jiru?» jedhanee, moromaa waan kaasaneef, Muuseen maqaa addee sanii, «Mariibaa»^{*} jedhee moggaase; Mootii Waan Maraalle haga waan ilaalaneeff, inni maqaa addee sanii, «Maasaa»[†] jedhee moggaase.

Amaaleqooti Israa'eloota Lolte

⁸ Amaaleqooti Refidiim dhuttee Israa'eloota lolte.

⁹ Muuseelle Iyaasu'uun, «Namoota keenna keessaa filiitii dhaqii Amaaleqoota loli. Anille ulee Waaqi akka ani bilbaasa ittiin hojjadhuuf naaf kenne qabadhee kooba gubbaa hin dhaabbadha» jedhe.

¹⁰ Iyaasuulle akkuma Muuseen isa ajaje dhaqee Amaaleqoota lole; Muuseen, Aaronii fi Huur kooba gubba'atti ol bayane.

¹¹ Yennaa Muuseen harka ifii ol kaase, Israa'elooti injifataa turte; yennaa inni harka ifii gad buufate ammoo Amaaleqooti injifataa turte.

¹² Harki Muuse'ee yennaa dadhabu, Aaronii fi Huur dhakaa fidanee isa jala keyane; innille irra tee'e. Tokko gara middaatiin, kuun gara bita'aatiin haga aduun seentutti, harki isaa akka gad hin buune kiphane.

¹³ Akka kanaan Iyaasuun shallaaga'aan Amaaleqoota injifate.

¹⁴ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Yennaa maraaf qaabbii akka teetu dabarsii injifannoo tanaa kitaaba maramaa kana irratti barreessi. Anille Amaaleqoota ijumaa lafa irraa akka balleessu Iyaasu'utti himi» jedhe.

¹⁵ Muuseen addee ciinca'aa ijaaree, «Mootiin Waan Maraa baandiraa kiyya» jedhee moggaase.

¹⁶ Itti dabaleelle, «Harki kiyya gara barcumaa mootumma'aa ka Mootii Waan Maraa waan diriirfameeruuf, Mootiin Waan Maraa dhalootaa haga dhalootaatitti Amaaleqoota hin lola» jedhe.

18

Yetro Gara Muuse'ee Dhaqe

¹ Hayyichi worra Miidiya'aa Yetro, abbaan sodda'aa ka Muuse'ee, waan Mootiin Waan Maraa Muuse'ee fi kolbaa Israa'eliitiif godhe, attam akka inni biyya Gibxi'ii keessaa isaan baase dhage'e.

²⁻³ Muuseen niitii ifii Siiforaa ifi biraa deebiseen duuba, abbaan sodda'aa ka isaa isi'ii fi ilmaan isi'ii lamaan ta isiin Muuse'eef deette gara ifii fudhate; maarre Muuseen, «Ani biyya ormaatitti alagaa te'eera» jedhee, ilma ifii angaficha, «Gershoom» jedhee maqaa baase.

⁴ Ilma lammeesso'oolle, «Waaqi abbaa kiyyaa, qarqaaraa kiyya; shallaagaa mooticha Gibxi'ii jalaa na baaseera» jedhee, maqaa isaa, «Elii'ezer» jedhee baase.

⁵ Abbaan sodda'aa ka Muuse'ee Yetro, niitii Muuse'eetii fi ilmaan isaa lamaan woliin goomolee keessa, gaara woyyicha bira addee inni qubateerutti, gara Muuse'ee dhaqe.

⁶ Yetro, «Ani abbaan keeti ka sodda'aa Yetro, niitii teetii fi ilmaan isi'ii lamaan woliin gara keeti dhufiisatti jira» jedhee, itti erge.

^{*} **17:7 Mariibaa:** Afaan Ibrootaatiin *moromaa* jechu'u. [†] **17:7 Maasaa:** Afaan Ibrootaatiin haga ilaaluu jechu'u.

⁷ Maarre Muuseen abbaa soddaa ifii qophatiisaaf, gad bayee, isaaf sagadee, sunqate; isaan nageya wol fuudhanee, achiin duuba gara dunkaani'ii ol seenane.

⁸ Achiin duuba Muuseen marroo waan Mootiin Waan Maraa kolbaa Israa'eliitiif jedhee, mooticha Gibxi'iitii fi kolbaa Gibxi'ii irratti huje, rakkinna karaa irratti isaan dhaqqabe mara, Mootiin Waan Maraa attam akka isaan baaselle abbaa soddaa ifiititti hime.

⁹ Abbaan sodda'aa ka isaa Yetro, Mootiin Waan Maraa harka worra Gibxi'ii keessaa isaan baasiisaan, waan dansaa inni Israa'elootaaf godhe maratti gammadde,

¹⁰ «Mootiin Waan Maraa ka harka mooticha Gibxi'iitii fi worra Gibxi'ii jalaa isin baase, ka harka worra Gibxi'ii jalaa kolbaa baase leellifamuu ti.

¹¹ Worra Gibxi'ii ka Israa'eloota kooraan rakkise irratti inni waan kana waan tolcheef, akka Mootiin Waan Maraa waaqota mara caalu ani amma beeke» jedhe.

¹² Achiin duuba abbaan sodda'aa ka Muuse'ee, kennansa gubamuu fi cincaa dhibii Waaqaaf fide; Aaron jaarsolee Israa'elootaa mara woliin abbaa sodda'aa ka Muuse'ee woliin Waaqa duratti sagalee woyyittii san nyaatiisaaf dhufe.

Filamiisa Abbootii Mura'aa

¹³ Guyyaa itti aanu Muuseen kolba'aaf mura kenniisaaf tee'e; isaanille ganamaa haga galgalaatitti isa marsanee dhaabbatane.

¹⁴ Abbaan sodda'aa ka isaa, waan inni kolba'aaf tolchiisatti jiru yennaa dhagge, «Wonni ati kolba'aaf tolchiisatti jirtu kun maan? Kolbaan tun marti ganamaa haga galgalaatitti si marsitee dhaabbattuun, ati abbaa mura'aa teetee, maaf qofi teetta?» jedhee gaafate.

¹⁵ Muuseen deebisee abbaa sodda'aa ka ifiitiin, «Kolbaan fedha Waaqaa gaafatiisaaf, gara kiyya waan dhuttuuf, ani tana godhe.

¹⁶ Isaan yennaa wol dhabane na bira dhufan; isaan keessaa ka dhugaa irra jiru murteesse, seerataa fi seera Waaqaa itti hima» jedhe.

¹⁷ Achiin duuba abbaan sodda'aa ka Muuse'ee Yetro deebisee, «Wonni ati tolchiisatti jirru dansa'aa moti.

¹⁸ Atii fi kolbaan gara keeti dhuttulle ifi eleessiisatti jirtan; hujiin tun guddoo ulfaattu'u. Ati qofii teeti hujii tana hujuu hin dandeettu.

¹⁹ Ani amma gorsa tokko si'iif kenna na caqasi; Waaqi si woliin jiraatuu ti. Ati kolbaa bakka bu'iitii haajaa isaanii Waaqa dura dhikeessi.

²⁰ Ati Seerataa fi seera Waaqaa isaan barsiisi; karaa isaan deemanuu fi waan isaan hujanu itti mudhisi.

²¹ Garuu kolbaa mara keessaa namoota dandeettii qabanu, ka Waaqa sodaatanu, ka addatamummaa qabanuu fi ka safuu fudhatiisa hin jaalanne filiitii, ajajjoota kumaa, ajajjoota dhibbaa, ajajjoota shantamaa, ajajjoota kudhanii tolchii muudi.

²² Isaan yennaa mara kolba'aaf mura kennanuu ti; waan isaan dhibe gara keeti fidanuu ti. Waan kasoo isaanummaan murteessanuu ti. Isaan hujii waan si qarqaaranuuf, ba'aan si irraa hin sallatti.

²³ Ati yoo tana goote, Waaqille tanuma yoo si ajaje, ati hin eloottu; kolbaalle haajaa ifii guutattee gara mana ifii hin deebiti» jedhe.

²⁴ Maarre Muuseen gorsa abbaa sodda'aa ka ifii dhage'ee, waan inni jedhe mara godhe.

²⁵ Inni Israa'eloota keessaa worra dandeettii qabu filee, sooressitoota kolba'aa akka te'anu, ajajjoota kumaa, ajajjoota dhibbaa, ajajjoota shanta-maatii fi ajajjoota kudhanii tolchee baallii isaaniif kenne.

²⁶ Isaan abbootii mura'aa te'anee kolbaa tajaajilane; haajaa isaan dhibe gara Muuse'ee fidanee, haajaa kasoo te'e ammoo ifumaaf murteessane.

²⁷ Achiin duuba Muuseen abbaa sodda'aa ka ifii Yetro geegessee, abbaan sodda'aa ka isaa Yetro gara biyya ifii deebi'e.

19

Israa'elooti Gaara Siina'aa Geyane

¹ Israa'elooti biyya Gibxi'ii keessaa bayanee, ji'a sadeesso'oo guyyaa tok-keesso'oo goomolee Siina'aa geyane.

² Isaan Refiidiimii ka'anee goomolee Siina'aa keessa, fuullee gaara Siina'aa achi qubatane.

³ Achiin duuba Muuseen gara Mootii Waan Maraa gaaratti ol baye.

Waaqille gaara gubba'aa Muusee waamee, «Sanyii Yaaqoobii, kolbaa Israa'eliitiin,

⁴ «Waan ani worra Gibxi'ii irratti godhe, akka risaan ilmoolee ifii koolaan ba'atu, isin ba'adhee gara kiyya attam akka isin fide dhaggitaneertan.

⁵ Amma isin guutumatti naaf yoo ajajantane, gondoorroo tiyyalle yoo eegatane, gosa biyya adda addaa mara keessaa kolbaa irra caalaa jaalatantane hin teetan. Latti duudiin tiyya teetulle,

⁶ isin mootummaa hayyootaa kolbaa woyyittii naaf hin teetan» jedhi. Tun waan ati kolbaa Israa'eliittitti hintu» jedheen.

⁷ Maarre Muuseen gad bu'ee jaarsolee kolba'aa waamee dubbii Mootiin Waan Maraa akka inni dubbatu isa ajaje mara isaanitti hime.

⁸ Achiin duuba kolbaan marti afaan tokkochaan, «Waan Mootiin Waan Maraa jedhe mara hin tolchina» jedhanee deebisane. Maarre Muuseen waan kolbaan jette deebi'ee Mootii Waan Maraatitti hime.

⁹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Ani si woliin dubbadhuun kolbaan akka dhageettu, yennaa maralle akka si'itti addattu, ani duumensa ciggaa keessa gara keeti hin dhufa» jedhe.

Achiin duuba Muuseen waan kolbaan jette Mootii Waan Maraatitti hime.

¹⁰ Mootiin Waan Maraalle Muuse'een, «Gara kolba'aa dhaqiitii adhaa fi boru isaan woyyoonsi. Woyaa ifille akka dhiqatanu godhi;

¹¹ guyyaa sadeesso'oo adoo isaan dhagganuu, ani gaara Siina'aa irratti waan gad bu'uuf, guyyaa saniif qophowanuu ti.

¹² Cinaa gaaraatitti naannessii, meessaa buusiitii, «Gara gaaraa akka ol hin baane yookiin irga isaa akka hin tundhe ifi eegadha'a; nami gaara san tuqe ijjeefamuu ti.

¹³ Harki adoo isa hin tuqin, dhaka'aan tumamee yookiin daayaan woraanamee ijjeefamuu ti. Nami yookiin horiin yoo gaara san tuqe ijjeefamuu ti. Qoonqoon tultulla'aa adoo wol irraa hin citin, yennaa tultullaan afuufame qofa kolbaan gara gaaraa ol bawuu dandeetti» jedhii itti himi» jedhe.

¹⁴ Achiin duuba Muuseen gaara irraa gara kolba'aa gad bu'ee, isaan woyyoonsee, woyaa ifille akka dhiqatanu godhe.

¹⁵ Muuseen kolba'aan, «Guyyaa sadeesso'ootiif ifi qopheeffadha'a; dubartii bira hin geyina'a» jedhe.

¹⁶ Gaafa guyyaa sadeesso'oo ganama gaara san irratti duumensi ciggaan mudhate; mandiisuun mandiite; balaqqeettiin balaqqitte; qoonqoon tultulla'aa guddoon afuufante; kolbaan addee quttumaa san jirtu marti naatee hollatte.

¹⁷ Achiin duuba Muuseen kolbaa addee quttumaatii baasee gara Waaqaa fidee, isaanille gaara jala dhaabbatane.

¹⁸ Waaqi ibiddaan gaara irratti waan gad bu'eef, gaarri Siina'aa aaraan gollame; aarri akka aara boolla ibiddaa keessaa bawuu, gaara san irraa aare. Gaarri sun guutumatti raafame.

¹⁹ Qoonqoon tultulla'aalle ittuma dabalamaa dhutte. Achiin duuba Muuseen dubbate; Waaqille qoonqoo akka mandiisu'uutiin deebii kenne.

²⁰ Mootiin Waan Maraa qaccee gaara Siina'aa irratti gad bu'ee, gara qaccee gaaraa Muusee waame. Muuseelle ol baye.

²¹ Mootiin Waan Maraalle Muuse'een, «Kolbaan ana Mootii Waan Maraa ilaaliisaaf, meessaa dabaranee, hedduun isaanii akka hin dhumanne, gad bu'ii itti gorsi.

²² Hayyooti gara kiyya dhikaatanuuyyuu ifi adda baasuu qaban; yoo akkas hin te'in ani isaan hin adaba» jedhe.

²³ Muuseelle Mootii Waan Maraatiin, «Ati, «Adaala gaara kanaatitti meessaa naqa'aatii, isa woyyoonsa'a» waan nuun jetteertuuf, kolbaan gara gaara kanaa ol bawuu hin dandeettu» jedhe.

²⁴ Mootiin Waan Maraalle deebisee Muuse'een, «Gad bu'iitii, Aaron woliin deebi'ii koy; hayyootii fi kolbaan ammoo gara kiyya dhufiisaaf meessaa dabaru hin qabanu; yoo isaan dabarane, ani isaan hin adaba» jedhe.

²⁵ Muuseelle gara kolba'aa gad bu'ee, waan Mootiin Waan Maraa jedhe isaanitti hime.

20

Ajajoota Kudhan

¹ Waaqi jechoota asii gad jiru kana mara dubbate:

² «Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keeti, ka lafa garbumma'aa, biyya Gibxi'ii keessaa si baase.

³ «Ana malee waaqota dhibii hin waaqonfatin.

⁴ «Bifa waan ol-gubbaa jiruutiin yookiin waan lafa irra jiruutiin yookiin waan bisaan keessa jiruutiin, bifa waan tokkootille'een waaqa dharaa hin hujatin.

⁵ Isaaniif hin sagadin; isaan hin waaqonfatinille'e. Ani Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti Waaqa hinaatticha waan te'eef, worra na jibbu sababa cubbuu abbootii isaaniitiif, ijoollee isaanii haga dhaloota sadiitii fi afuriititti hin adaba.

⁶ Worra na jaalatu fi worra ajaja kiyya eegatu ammoo dhaloota isaanii haga dhaloota kumaatitti jaalala kiyya ka bara baraa isaanitti hin mudhisa.

⁷ «Ani Mootiin Waan Maraa nama maqaa kiyya akkasumaan dhowu adabu malee waan hin lakkinneef, maqaa kiyya akkasumaan hin dhowin.

⁸ «Guyyaa Sanbataa woyyoonsiisaaf qaabadhu!

⁹ Guyyaa jaa elowiitii hujii teeti mara hujadhu.

¹⁰ Guyyaan torbeesso'oo ammoo Mootii Waan Maraa Waaqa keetiif guyyaa foora ti; guyyaa san ati, ijoolleen teeti ta dhiiraatii fi ta durraa, tajaajiltooti teeti ta dhiiraatii fi ta durraa, horiin keetii fi nami alagaan si bira jiru marti hujii tokkolle hin hujin.

¹¹ Ani Mootiin Waan Maraa guyyaa jaa keessatti ol-gubbaa, lafa, abbaaya'aa fi waan isii keessa jiru mara dade; guyyaa torbeesso'oo ammoo foorfadhe; tanaaf ani Mootiin Waan Maraa guyyaa Sanbataa eebbisee woyyoonse.

¹² «Lafa ani Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti si'iif kennu keessatti bara dheeraa akka leetu, abba'aa fi haadha teetiif ulfinna kenni.

- 13 «Hin ijjeesin;
 14 «Hin gaarayyeeffatin;
 15 «Hin hatin;
 16 «Nama irratti dharaan dhugaa hin bayin;
 17 «Mana namaa hin kajeelin; haadha manaa isaa, tajaajilaa isaa, tajaajiltuu isaa, loon isaa, harree isaa, karra isaa mara hin kajeelin» jedhe.

Sodaa Kolba'aa

18 Kolbaan sun mandiisu'uu fi balaqqeettii yennaa dhaggite, tultullaa afuufamu dhageettee, gaarri aaruun yennaa dhaggite soda'aan hollattee, fagaattee dhaabbattee,

19 Muuse'een, «Nuuti akka hin duune, Waaqi nu waliin akka dubbatu hin godhin; atinuu nu waliin dubbadhu; nuuti hin caqanna» jette.

20 Muuseen kolbaa saniin, «Hin sodaatina'a! Sodaan Waaqaa isin bira jiraattee, cubbuu hujiisa irraa akka isin eedduuf, Waaqi haga isin ilaaliisaaf dhufeera» jedhe.

21 Kolbaan irraa fagaattee dhaabbatteertuun, Muuseen addee Waaqi jiru gara duumensa ciggaa dukkanowaa sanii dhikaate.

Seera Marroo Addee Ciinca'aa

22 Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Ati Israa'elootaan, «Mootiin Waan Maraa: Ani ol-gubbaa irraa akka isinitti dubbadhe isinuu dhaggitaneertan;

23 isin ana malee, waaqota meeti'ii fi worqii irraa hujattanee hin waaqon-fatina'a.

24 «Ati addee ciinca'aa faara irraa naaf hujiitii, isa irratti kennansa gubamuu fi kennansa tokkumma'aa hoolee, re'e'ee fi loon keeti keessaa dhikeessi. Ani addee maqaa kiyya akka itti waamamu godhe san gara keeti dhufee si hin eebbisa.

25 Ati dhaka'aan addee ciinca'aa naaf yoo ijaartu teete, meya ittiin boccu saniin waan batteessituuf, dhakaa bocameen hin ijaarin.

26 Nafi keeti qullaa akka hin mudhanneef, yaabbannoo irra gara addee ciinca'aa tiyyatti ol hin bayin jedha» jedhiin» jedhe.

21

Seera Marroo Garbootaa *(Kes. 15:12-18)*

1 Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Seerri ati Israa'elootaaf kennitu asii gad jira:

2 «Sanyii Ibrootaa keessaa garbicha yoo bitattane, woggaa jaa isin tajaajiluu ti. Woggaa torbeesso'oo ammoo waan tokkolee adoo hin kaffaliniif akka-sumaan deemuu ti.

3 Inni yoo qofuu dhufee jiraate, qofuma deemuu ti; inni yennaa dhufu niitii yoo qabaate ammoo, isii fudhatee deemuu ti.

4 Yoo goottaan isaa niitii isa fuusisee, isiin ilmaan yookiin durra isaaf deetee yoo jiraate, dubartiin sunii fi ijoolleen sun ta gootta'aa te'anuu ti; namichi qofuma deemuu ti.

5 «Garbichi sun ammoo, «Ani gootaa kiyya, niitii tiyyaa fi ijoollee tiyya hin jaaladha! Bilisa bawuu hin barbaadu» yoo jedhe,

6 goottaan isaa Waaqa* dura isa geessuu ti. Achiin duuba gara balbalaa yookiin gara mikikkila balbalaa geessaa gurra isaa muta'aan uruu ti. Achiin duuba inni haga jiruu ifii garba isaa hin te'a.

* 21:6 Waaqa dura: Barreeffam durii tokko tokko, «Abbootii mura'aa dura» jedha.

⁷ «Nami tokko intala ifii akka garbittii teetuuf yoo gurgure, isiin akka garbicha dhiiraa bilisa hin bayin.

⁸ Isiin gootaa ifi ka niitii isii godhatiisaaf filate yoo gammachiisuu dhadde, inni akka isiin wodantu godhuu ti. Inni waan isi'iif hin malle waan isii irratti godheef, ormatti dabarsee isii hin gurgurin.

⁹ Nami tokko akka ilmi isaa fuudhuuf garbittii yoo bitate, akkuma intala ifiititti ilaaluu ti.

¹⁰ Dubartii dhibii yoo fuusise ammoo, muttaaritti'iif sagalee, uffanaa fi waan isi'iif barbaachisu hin dhooggatin.

¹¹ Waan sadiin kana yoo isi'iif hin guutin, kaffaltii tokko malee deentuu ti.

Seera Worri Nama Miidhu Ittiin Adabamu

¹² «Nami nama dhaanee ijjeesu, innille ijjeefamuu ti.

¹³ Te'uu malee, inni gaadee adoo hin ijjeesin, danuu yoo teete, addee ani isaa qopheessetti baqatuu ti

¹⁴ Nami tokko beekaa nama yoo ijjeese ammoo, addee ciincaa tiyyaatii baasa'aatii isa ijjeesa'a.

¹⁵ «Nami abbaa ifi yookiin haadha ifii dhaanu ijjeefamuu ti.

¹⁶ «Nami nama hatee gurgure yookiin isa harkalle'etti yoo dhaggame, nami hate sun ijjeefamuu ti.

¹⁷ «Nami abbaa yookiin haadha ifi abaaru ijjeefamuu ti.

¹⁸ «Nami wol lolee, tokkochi kaan dhakaan yookiin tuntummu'uun dhowee, nami dhowame sun adoo hin du'in tagee irra yoo ciise,

¹⁹ ulee dhadhaabbataa yoo deddeemu teete, nami isa dhowe sun itti hin gaafatamu; te'uu malee, yennaa hujii isaa waan duraa balleesseef, nama miidhame saniif qodha kennuu ti; haga inni guutumatti fayyutti isa ilaaluu ti.

²⁰ «Nami tokko garbicha ifi yookiin garbittii ifi ule'een dhowee yoo ijjeese, adabamuu ti.

²¹ Garbichi sun guyyaa tokkoon yookiin guyyaa lamaan duuba yoo fayye, garbichi sun duruu qabeenna isaa waan te'eef adabamuu hin qabu.

²² «Namooti adoo wol lolanuu dubartii ulfaatitti bu'anee, ulfi sun irraa bayee, isiin guddoo miidhamuu dhaddulle, nami isii miidhe sun waan dhirsi isi'ii isa gaafatee fi waan abbootiin mura'aa itti murte kennuu ti.

²³ Miidham hamaa yoo te'e ammoo, qooda lubbu'uu, lubbuu;

²⁴ qooda ilaa, ila; qooda ilkaanii, ilkaan; qooda harkaa harka; qooda miilaa, miila;

²⁵ qooda gubiisaa, gubiisa; qooda mada'aa, madaa; qooda dhaaniisaa, dhaaniisa; seera jedhuun murteessi.

²⁶ «Nami tokko ila garbicha ifi yookiin ila garbittii ifi dhowee yoo balleesse, qodha ilaatiif garboota san bilisa baasuu ti.

²⁷ Ilkaan garbichaa yookiin ilkaan garbitti'ii yoo casselle, qodha ilkaaniitiif garboota san bilisa baasuu ti.

Itti Gaafatammummaa Qabeenna Ifii

²⁸ «Kormi tokko dhiira yookiin dubartii takka nyaatee yoo ijjeese, kormi sun dhaka'aan tumamee ijjeefamuu ti; foon isaa ammoo hin nyaatamin; abbaan kormaa ammoo itti hin gaafatamin.

²⁹ Kormi sun duruu ka nama nyaatu te'ee, abbaan korma sanii akka dhooggatuuf itti himanee, inni dhooggatuu dhabee, dhiira yookiin dubartii nyaatee yoo ijjeese, kormi sun dhaka'aan tumamee ijjeefamuu ti; abbaan korma saniille ijjeefamuu ti.

³⁰ Te'uu malee, qodha akka kennu yoo gaafatame, waan itti murteeffame san kaffaliisaan lubbuu ifii wodatuu ti

³¹ Kormi tokko ilma yookiin intala nyaatee yoo ijjeese, akkuma seera kanaatitti murteeffamuu ti.

³² Kormi tokko garbicha yookiin garbittii takka yoo nyaate, meetii giraama sagaltama qodha kennuu ti.

³³ «Nami tokko boolla qotee adoo hin duuchiin lakkisee, boolla san keessa qotiyyoon yookiin harreen yoo buute,

³⁴ nami boolla qote sun abbaa qotiyyo'ootiif yookiin abbaa harre'eetiif qodha kennu ti; qotiyyoon duute sun yookiin harreen duute sun ammoo isaaf te'anuu ti.

³⁵ Kormi nama tokkoo korma nama dhibi'ii yoo ijjeese, korma jiru san gurgurane beese itti gurgurane fi korma du'e san wol qixxee qoodatanuu ti.

³⁶ Te'uu malee, kormi sun ka nama nyaatu te'ee, abbaan korma sanii dhooggatuu yoo dhabe, addee korma du'e sanii korma dhibii kennuu ti; korma du'e san ammoo ifiif fudhatuu ti.

22

Seera Qabeenna Ittiin Eegatanu

¹ «Nami tokko qotiyyoo tokko yookiin hoolee hatee yoo qalate yookiin yoo gurgurate, qooda qotiyyoo tokko sanii qotiyyoo shan, qooda hoolee takkattii sanii hoolee afur kaffaluu ti.

² Hattichi tokko balbala cassee adoo seenuu qabamee tumamee, yoo du'e, dhiiga isaa ka dhangalaafameef gumaan hin jiru.

³ Aduun baateen duuba yoo ijjeefame garuu, ka ijjeese sun yakkaamessa hin te'a.

«Hattichi qabame sun waan hate san kaffaluu qaba; inni womaa yoo hin qabaanne teete ammoo, waan hate san kaffaliisaaf inninuu gurguramuu ti.

⁴ «Horiin inni hate sun kormi yookiin hooleen yookiin harreen lubbu'uun adoo jiranuu harka isaatitti yoo dhaggamane, waan tokkoof dachaa lama kaffaluu ti.

⁵ «Nami tokko horii ifii fichaa keessa yookiin oorruu woyni'ii keessa akka dheedanu gad lakkisee, midhaan nama dhibi'ii yoo nyaatane, fichaa ifii dansaa irraa yookiin oorruu woynii ifii dansaa irraa nama saniif kaffaluu ti.

⁶ «Ibiddi tokko ka'ee daggala qabatee, tuulaa midhaanii yookiin midhaan fichaa keessaa yoo nyaate, nami ibidda qassiise sun gatii midhaan sanii guutuu kaffaluu ti.

⁷ «Nami tokko beese yookiin meya ifii akka isaaf massu namatti kennatee, mana nama sanii keessaa hattuun yoo hatte, hatichi sun yoo qabame dachaa lama kaffaluu ti.

⁸ Hattichi sun yoo dhabame ammoo, abbaan manaa meya nama sanii akka hatee hin jirre kakatiisaaf, abbootii mura'aa dura dhikaatuu ti.

⁹ «Nami tokko qotiyyoo tokko, harree takka, hoolee takka, woyaa yookiin qabeenna te'e maraayyuu seera malee qabateeruun, ka dhibiin, «Kun kiyya» jedhee, moromaan yoo kaate, worri wol morome sun lamaanuu haajaa san abbootiin mura'aa dura dhikeessanuu ti; nami abbootiin mura'aa yakkaa itti murte sun nama saniif dachaa lama kaffaluu ti.

¹⁰ «Nami tokko harree takka, qotiyyoo tokko, hoolee takka yookiin horii dhibiille nama bira keyateeruun horiin sun yoo du'e yookiin yoo miidhame yookiin nami adoo hin dhaggin yoo fudhatame,

¹¹ nami horii bira keyatane sun horii nama sanii akka fudhatee hin jirre abbootii mura'aa duratti kakatuu ti; abbaan hori'ii sunille yaada kana fudhatuu qaba; kaffaltiin hin jiraatin.

¹² Horiin sun nama bira keyatane san biraa yoo hatamee jiraate ammoo nami sun kaffaluu ti.

¹³ Horii san bineensi yoo nyaatee jiraate, mirkaneessiisaaf, raqa bineensi nyaatee hafe san dhikeessuu ti; horii nyaatameef kaffaltiin hin jiraatin.

¹⁴ «Nami tokko horii nama irraa ergifatee, horii sun adoo abbaan hori'ii sun bira hin jiraatin yoo miidhame yookiin yoo du'e, abbaan ergifate sun kaffaluu ti.

¹⁵ Abbaan hori'ii sun yoo bira jiraate ammoo, abbaan ergifate sun hin kaffalin; horiin sun yoo kireeffamee jiraate, beeseen kira'aaf kaffalante sun gatii horii saniitiif kaffalantuu ti.

Seera Ittiin Bulmaataatii fi Seera Dhugeeffanna'aa

¹⁶ «Nami tokko durra hin kadhatamin sossobee bantii isi'ii yoo balleesse, maraa isi'ii kennee isii fuudhuu ti.

¹⁷ Abbaan isi'ii isaaf kenniisa yoo didate, nami sun goronsa banti'ii kennuu ti.

¹⁸ «Dubartiin falfaltu ijjeefantuu ti.

¹⁹ «Nami horii woliin rafe ijjeefamuu ti.

²⁰ «Ana Mootii Waan Maraatiif malee, nami waaqota dhibi'iif ciincaa dhikeessu ijjeefamuu ti.

²¹ «Isinille biyya Gibxi'ii keessatti alagaa waan teetaneertanuuf, alagaa hin miidhina'a yookiin hin cunqursina'a.

²² «Haadha hiyyeessaa yookiin ijoollee abba'aa fi haadha hin qanne gad hin qabina'a

²³ Isin yoo isaan gad qaddanee isaan gara kiyya iyyane, dhugumaan ani iyya isaanii hin dhage'a.

²⁴ Ani isinitti aaree, shallaaga'aan isin hin ijjeesa; niitiin teessan haadha hiyyeessaa hin teeti; ijoolleen teessanille ta abbaa hin qanne hin teeti.

²⁵ «Kolbaa tiyya keessaa nama hiyyeessaaf beese yoo liqeessitane, akka nama dhalaan liqeessuu isatti hin te'ina'a; dhala isa hin gaafatina'a.

²⁶ Woyaa namaa qaddii yoo qabattane, adoo aduun hin seenin isaaf deebisa'a.

²⁷ Wonni inni nafa ifitiin gollatu tana qofa waan teeteef, maan uffatee rafa ree? Yoo inni gara kiyya iyye, ani mararaa waan te'eef, isaaf hin dhage'a.

²⁸ «Waaqa hin faanshessina'a yookiin bulchaa kolbaa teessanii hin abaa-rina'a.

²⁹ «Midhaan haammattanee galfattanu keessaa mataa naa kenniisaaf hin rincicina'a.

«Ilmaan teessan keessaa angafa naaf kenna'a.

³⁰ Loonii fi hoolee teessan keessalle'ee akkasuma tolcha'a; isaan guyyaa torba haadha ifii woliin turanuu ti; guyyaa saddeetesso'oo ammoo isaan naaf kenna'a.

³¹ «Isin kolbaa naaf woyyoonte hin teetan; tanaaf foon horii bineensi ijjeesee sare'eef kenna'a malee hin nyaatina'a.

23

Seera Haqaatii Fi Mararti'ii

¹ «Oduu dharaa hin odeessina'a; dharaan dhugaa bayiisaan nama yakkaamessa hin qarqaarina'a.

² «Hantuu hujiisaaf namoota hedduu hin hordofina'a; addee seeraatitti namoota hedduu hordofiisaan haqa hin dassina'a.

³ Hiyyeessi muraa dura yennaa dhikaate, waan inni hiyyeessa te'eef isaaf hin rogina'a.

⁴ «Qotiyyoo yookiin harree diina keessanii ta balleya baddeertu yoo dhaggitane isaaf galcha'a.

⁵ Harreen nama isin jibbuu fe'iisa jalatti jiddeertuun yoo dhaggitane, isa qarqaara'a malee lakkittanee irra hin dabarina'a.

⁶ «Hiyyeessi muraa dura yennaa dhikaate, haqa isaa hin dassina'a.

⁷ Ani yakkaamessa akka nama yakkaa hin qanneetitti hin laakkowu; tanaaf, waan dharaa irraa fagaadha'a; nama yakkaa hin qanne yookiin nama balchaa hin ijjeesina'a.

⁸ «Safuun ila worra akka dansaa dhagguu waan balleessituuf, jecha worra balchoole'eelle waan micciirtuuf, safuu hin fudhatina'a.

⁹ «Alagaa hin cunqursina'a; isinille biyya Gibxi'iititti alagaa waan teeta-neertanuuf, waan alaga'atti dhage'amu isinuu hin beettan.

Seera Sanbataa

¹⁰ «Woggaa jaa fichaa keessanitti midhaan facaafadha'aatii galfadha'a;

¹¹ woggaa torbeesso'oo ammoo bulcha'a malee hin qotina'a; waan achi keessaa dhaggamu worri hiyyeeyyiin kolbaa teessan keessaa nyaatanuu ti; ka isaan irraa hafe bineensi nyaatu ti. Muka woyni'ii keessanii fi muka ejersaa keessanille akkasuma godha'a.

¹² «Guyyaa jaa hujii teessan hujadha'a; qotiyyoon teessan, harreen teessan, garbi mana keessan keessatti dhalatee fi alagaan isinii huju akka foorfatanu, guyyaa torbeesso'oo ammoo hujii hin hujina'a.

¹³ «Waan ani isinitti hime kana mara hubadha'a; maqaa waaqota dhibi'ii hin waammatina'a; maqaan isaanii afaan keessanille'ee hin bayin.

Jila Gugurdoo Sad

¹⁴ «Wogga'atti yennaa sad jila naaf jilifadha'a.

¹⁵ «Jila daabboo uukoo hin uukoonnee jilifadha'a; akkuma ani isin ajaje guyyaa torbeesso'oo daabboo uukoo hin qanne nyaadha'a; ji'a biyya Gibxi'ii keessaa baatanee waan te'eef, jila tana ji'a «Abibiib» jedhamu keessa guyyaa murteeffametti jilifadha'a.

«Nami tokkole harka duwwaa na dura hin dhikaatin.

¹⁶ «Midhaan facaafattane ka mata'aa yennaa galfattanuu, jila midhaan galfatiisaa jilifadha'a.

«Dhuma wogga'aa irratti mukoota fichaa keessan keessa jiranu irraa midhaan yennaa guurrattanuu, jila midhaan galfatiisaa jilifadha'a.

¹⁷ «Wogga'atti yennaa sad dhiirti marti Mootii Waan Maraa Gootaa dura dhikaattuu ti.

¹⁸ «Dhiiga ciinca'aa ka anaaf dhikaatu waliin waan uukoo qabu hin dhi-keessina'a.

«Moorri yennaa jilaa kennansa ciinca'aatiif naaf dhikaatu haga bari'ii hin turin.

¹⁹ «Waan latti isiniif baache keessaa midhaan mata'aa ka irra caalaa dansa'aa ana Mootii Waan Maraa Waaqa keessaniif dhikeessa'a.

«Buruusoo re'e'ee aanan haadha isi'iitiin hin iffeelina'a.

Waada'aa Fi Gorsa

²⁰ «Kunoo, karaa irratti akka isin eeguuf, gara addee ani qopheessee akka isin fiduuf, ani ergamaa isiniin dura ergeera.

²¹ Isin ifi eeggadha'a; dubbii isaalle qalbeeffadha'a. Isalle hin mormina'a; ani maqaa kiyyaan waan isa ergeef inni finqila keessan isiniif hin araaramu.

²² Waan inni jedhe akka dansaa yoo caqattane, waan ani ajaje maralle yoo tolchitane, ani diina keessaniif diina hin te'a; worra isin mormulle hin morma.

²³ Ergamaan kiyya isiniin dura deemee gara lafa Amoorotaa, lafa Heetotaa, lafa Pheriizotaa, lafa Kana'aanotaa, lafa Hiiwotaa, lafa Yibusootaa isin hin geessa; anille isaan hin balleessa.

²⁴ Isin waaqota isaaniitiif hin sagadina'a yookiin isaan hin waaqon-fatina'a! Hujii isaaniille gula hin deemina'a. Waaqota isaanii balleessa'a; soodduu woyyittii isaaniille caccassa'a.

²⁵ Ana Mootii Waan Maraa Waaqa keessan waaqonfadha'a; anille midhaanii fi bisaan keessan hin eebbisa; dhukkuballe odduu teessanii hin balleessa.

²⁶ Lafa teessan keessa dubartiin ulfi irraa bawu yookiin maseenti hin jiraattu; bara jiruu teessaniille hin dheeressa.

²⁷ «Ani diinota keessan akka na sodaatanu hin tolcha; kolbaa isin loltanu hin joonjessa; diinoti keessan marti akka isin dheetanu hin tolcha.

²⁸ Ani worra Hiiwotaa, worra Kana'aanotaatii fi worra Heetotaa isin duraa ari'iisaaf soonsa itti hin erga.

²⁹ Latti ontee bineensi akka isinitti hin bacanne, woggaa tokko keessatti isin duraa isaan hin ari'u.

³⁰ Haga isin hortanee lafa qabattanutti diqqeessee diqqeessee isin duraa isaan hin ari'a.

³¹ «Meessaa keessan abbaayaa diintuu* irraa haga abbaayaa Filisxeemotaa, goomolee irraa haga laga Efraaxiisii hin godha. Ani kolbaa lafa san keessa leetu harka keessanitti dabarsee hin kenna; isinille ifi duraa isaan hin ariitan.

³² Isaan woliin yookiin waaqota isaanii woliin woli hin gondooratina'a.

³³ Akka isaan lafa teessan keessa le'anuu hin godhina'a. Yoo akkas gootane, isaan akka isin na irratti cubbuu hujjanu hin godhan. Isin waaqota isaanii yoo waaqonfattane, tiyyoo isinitti hin teeti» jedhe.

24

Dhiiga Gondooro'oo

¹ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Ati, Aaron, Naadaab, Abiihu'uu fi jaarsoleen Israa'elii torbaatam gara ana Mootii Waan Maraa kowa'a. Fagoo dhaabbadha'aatii sagada'a.

² Ati callaan na bira dhikaadhu malee, worri dhibiin na bira hin dhikaatin; kolbaalle si woliin ol hin bayin» jedhe.

³ Muuseen dhagee waan Mootiin Waan Maraa dubbatee fi seera isaa mara kolba'atti yennaa hime, kolbaan afaan tokkoon, «Waan Mootiin Waan Maraa jedhe mara hin goona» jettee deebitte.

⁴ Achiin duuba Muuseen, waan Mootiin Waan Maraa dubbate mara barreesse. Inni guyyaa itti aanu ganama ka'ee gaara jalatti addee ciinca'aa hujee, soodduu kudhanii lama ta gosa Israa'elii kudhanii lama bakka buutu dhaabe.

⁵ Achiin duuba inni Israa'eloota dargaggoota dhiiraa ergee, isaanille kennansa gubamuu fi kennansa tokkumma'aa ka Mootii Waan Maraatiif ciinceffamu dardaroota dhikeessane.

* **23:31** *Abbaayaa diintuu: Afaan Ibrootaatiin abbaayaa allaadu'uu jedhama.*

⁶ Muuseelle dhiiga san gamisa fuudhee qori'itti naqee, gamisa hafe addee ciinca'aa irratti dhangalaase.

⁷ Achiin duuba inni kitaaba Gondooro'oo fuudhee kolba'aaf dubbise; isaanille, «Waan Mootiin Waan Maraa jedhe mara hin goona; isaafille hin ajajanna» jedhane.

⁸ Achiin duuba Muuseen dhiiga san fuudhee kolba'atti fiffixee, «Kun dhiiga Gondooro'oo ka Mootiin Waan Maraa yennaa ajaja kana isinii kenne isin woliin gondoorate» jedhe.

⁹ Achiin duuba Muuseen, Aaron, Naadaab, Abiihu'uu fi jaarsoleen Israa'elii torbaatam gara gaaraa ol bayanee,

¹⁰ Waaqa Israa'elii dhaggane. Miila isaatiin jala dhakaa gatii guddo'oo ka «Safiros» jedhamu, qulqulluu akka ol-gubba'aatitti jiraayyu.

¹¹ Waaqi jaarsolee kolbaa Israa'elii tanatti balaa hin buunne; isaanille Waaqa dhagganee, fuula isaa duratti nyaatanee unane.

Muuseen Gara Gaara Siina'aa Ol Baye

¹² Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Gara gaaraa, gara kiyya ol bayiitii as turi; anille dhakaa baxxicha lama ka seerrii fi ajaji qajeelfama isaanii fi te'u irratti barreesse sitti hin kenna» jedhe.

¹³ Achiin duuba Muuseen qarqaaraa ifii Iyaasuu woliin ka'anee, Muuseen gara gaara Waaqaa ol baye.

¹⁴ Inni jaarsolee saniin, «Haga nuuti deebinee gara keessan dhunnutti, as tura'a; Aaronii fi Huur isin woliin waan jiranuuf, nami wol dhabu yoo jiraate isaan bira dhaquu ti» jedhe.

¹⁵ Yennaa Muuseen gara gaaraa ol baye, duumensi gaara golle.

¹⁶ Ulfinni Mootii Waan Maraa gaara Siina'aa irra bu'e; duumensi sun haga guyyaa jaa gaara gollee, guyyaa torbeesso'oo Mootiin Waan Maraa duumensa keessaa Muusee waame.

¹⁷ Ulfinni Mootii Waan Maraa ibidda wo nyaatu fakkaatee qaccee gaaraa irratti Israa'elootatti mudhate.

¹⁸ Achiin duuba Muuseen duumensa keessa gara gaara ol baye. Guyyaa afurtamaa fi halkan afurtama achi ture.

25

Kennansa Dunkaanii Woyyitti'iif Kennamu

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een

² «Israa'elooti kennansa akka naaf kennanu itti himi; nama fedhii ifitiin kennansa naa fidu irraa fuudhi.

³ Kennansi ati isaan irraa fuutu: worqii, meeti'ii fi sageettuu,

⁴ woyaa bifa cuquliisaa, woyaa dhiillee, woyaa liilana diima'atii fi woyaa quncee talba'aa, woyaa rifeensa re'e'ee,

⁵ gogaa korbeessa hoole'ee ka hallame, gogaa hoolee galaanaa, muka gololchaa,

⁶ zayitii ejersaa ta ifaaf teetu, uddowaa zayitii ejersaa ta dibatanutti naqanu, hixaana foolee dansa'aa,

⁷ dhakaa gatii guddo'ootii fi dooqa adda addaa ka woyaa hayyumma'aa ta qomaatii fi kiisii qomaatitti naqanu.

⁸ «Achiin duuba akka ani odduu isaanii jiraadhuuf, dunkaanii woyyittii naaf hujanuu ti.

⁹ Dunkaanii woyyittii tanaa fi meya isii keessaa mara akka ani sitti mudhisutti huji.

Saanduqa Gondooro'oo

¹⁰ «Saanduqa Gondooro'oo ta dheerinni isi'ii ciqilee lamaa fi wodhakka'aa, badhinna isi'ii ciqilee tokkoo fi wodhakka'aa, hojjaan isi'ii ciqilee tokkoo fi wodhakka'aa muka gololchaa irraa akka hujanu tolchi.

¹¹ Keessa isi'iitii fi duuba isi'ii worqii itti gonfi; roga isi'ii irra naannessiitii xiyyoo worqi'ii itti huji.

¹² Qubee worqi'ii afur hujitii, lamaan gara tokkoon, lamaan gara kaaniin, miila isi'ii afurittuu qassiisi.

¹³ Muka gololchaa irraa danqaraa bociitii worqii itti gonfi.

¹⁴ Danqaraa isii ittiin ba'atanu, qubeelee Saanduqa Gondooro'oo ta gama lamaaniin jirtu san keessa loosi.

¹⁵ Danqaraan sun qubeelee Saanduqa Gondooro'oo san keessuma tee'uutii malee achi keessaa hin bayin.

¹⁶ Achiin duuba dhakaa baxxicha lama ka ajaji irratti barreeffame ka ani si'iif kennu, saanduqa gondooro'oo san keessa keyi.

¹⁷ «Qadaaddaa Saanduqa Gondooro'oo ta worqi'ii, ta gumaa cubbu'uu irra keyanu ta dheerinni isi'ii ciqilee lamaa fi wodhakka'aa, badhinna isi'ii ciqilee tokkoo fi wodhakka'aa ta worqi'ii huji.

¹⁸ Dada ol-gubba'aa ta koola qaddu lama worqii tumante irraa qaccee lama ta qadaaddaa Saanduqa Gondooro'oo irratti huji.

¹⁹ Dada ol-gubba'aa san tokko qaccee gara tokkootitti, dada ol-gubba'aa ta lammeesso'oo qaccee garakaaniititti keyi; dada ol-gubba'aa ta koola qabanu san qaccee qadaaddaa Saanduqa Gondooro'oo lamaanittuu wolitti qassiisii tokko tolchi.

²⁰ Dadi ol-gubba'aa ta koola qabanu sun koola ifii ol badhifatanee qadaaddaa san irra gonbobanuu ti; fuula wolitti galanee, qadaaddaa Saanduqa Gondooro'oo san ilaalanuu ti.

²¹ Qadaaddaa Saanduqa Gondooro'oo san Saanduqa Gondooro'oo gubbaa keyi; dhakaa baxxicha seerri irratti barreeffame ka ani si'ii kennu sanille Saanduqa Gondooro'oo san keessa keyi.

²² Dada ol-gubba'aa ta koola qabanu lama ta qadaaddaa addee araara cubbu'uu ka Saanduqa Gondooro'oo irra jiranu wodhakka'atti si'iin wol dhaggee, achitti ajaja kiyya mara kolbaa Israa'eliitiif si'itti hin kenna.

Xarapheessaa Daabboo Waaqaaf Dhikaattu Irra Keyanu

²³ «Xarapheessaa dheerinni isaa ciqilee lama, badhinna isaa ciqilee tokko, hojjaan isaa ciqilee tokkoo fi wodhakka'aa muka gololchaa irraa huji.

²⁴ Worqii qulluu itti gonfi; roga isaa irralle naannessii worqii itti gonfi.

²⁵ Xiyyoo haga badhinna ganaa harkaa geettu irga isaa irratti naannessii worqii itti gonfi.

²⁶ Xarapheessaa saniif qubee worqi'ii afur hujitii, addee miilli isaa afur jiranutti roga isaa afur irratti qassiisi.

²⁷ Qubeeleen afur sun danqaraa xarapheessaa ittiin ba'atanu akka qaddu, xiyyoo san biratti dhikaatanuu ti.

²⁸ Danqaraa muka gololchaa irraa huji; worqii itti gonfiitii xarapheessaa san ittiin ba'adhu.

²⁹ Waan daadhii woyni'ii ittiin dhikeessanu gabataa, qorii, kobolaa fi muduunuu worqii qullittii irraa huji.

³⁰ Daabboo na dura dhikaattu yennaa mara fuula kiyya dura xarapheessaa kana irra keyi.

Waan Issaa Irra Keyanu (Bay. 37:17-24)

³¹ «Waan issaa irra keyanu worqii qullittii irraa huji. Miila isaa, ulee isaa, muduunuu daraaraa fakkaattu, guntuta daraara'aatii fi daraaraa seesaa waan ifa irra keyanu san woliin wolitti qassiisii tokko tolchii huji.

³² Waan issaa irra keyanu kana irratti dameelee jaa, gara tokkoon sad, gara kaaniin sad huji.

³³ Dameelee jaanuu, tokko tokkoo isaanii irratti muduunuun daraaraa muka «Almond» jedhamuu fakkaattu ta seesa guntuta daraara'aatii fi seesa daraara'aa qaddu sad jiraatanuu ti.

³⁴ Waan issaa irra keyanu san irra, muduunuun daraaraa muka «Almond» jedhamu fakkaattu afur ta seesa guntuta daraara'aatii fi seesa daraara'aa qaddu jiraatanuu ti.

³⁵ Dameelee waan issaa irra keyanuu lamaan karaa jalaa guntuti daraara'aa tokko, dameelee lamaan lammeesso'oo jala guntuti daraara'aa ka lammeesso'oo, dameelee lamaan sadeesso'oo jala guntuti daraara'aa ka sadeesso'oo jiraatanuu ti.

³⁶ Guntuti daraara'aatii fi dameeleen sun martinuu waan issaa irra keyanu san woliin wolitti qassiifamanee tokko te'anee, worqii qullittii irraa hujamanuu ti.

³⁷ «Akka issaan addee waan issaa irra keyanu duraatiif ifa kennanu, issaa torba hujitii, waan issaa irra keyanu san irra keyi.

³⁸ Qarapha'aa fi qoriin daadha'aa worqii qullittii irraa hujamanuu ti.

³⁹ Wonni ifa irra keyanuu fi mey isi'ii marti worqii qullittii kiiloogiraama soddonii shaniin hujamanuu ti.

⁴⁰ Akka ani gaara irratti sitti mudhise sanitti ilaalii huji.

26

Dunkaanii Woyyittii

¹ «Dunkaanii Woyyittii, gollaa haadaa qoola kudhan: liilana quncee talba'aa dansaa, liilana bifa cuquliisaa, liilana bifa dhiille'eetii fi liilana diimaa irraa wolitti fowantee dhowateen huji. Nami hujii harkaa beeku, fakkii dada olgubba'aa ta koola qadduu irratti hujuu ti.

² Gollaan haadaa sun tokko tokkoon isaa dheerinni ciqilee diddamii saddeeti badhinna ciqilee afur, marti isaaniituu wol qixa te'anuu ti.

³ Qoola woaya'aa san shanan wolitti hodhi; shanan hafane kaanille akkasuma tolchi.

⁴ Irga qoola woaya'aa ka wolitti hodhantee sanitti qubeelee bifa cuquliisaa itti naqi. Qoola woaya'aa ta wolitti hodhante ta gama kaanii irralle'etti akkasuma tolchi.

⁵ Irga qoola woaya'aa ka wolitti hodhamanee ka qaraatitti qubeelee shantama, ka lammeesso'oo irralle'etti qubeelee shantama, ta moggaa gama lamaaniituu fuullee wolitti galchii itti naqi.

⁶ Achiin duuba Dunkaaniin Woyyittiin takkattii akka teetu, qoola woaya'aa ta wolitti hodhamane san wolitti qassiisiisaaf hookkoo worqi'ii shantama huji.

⁷ «Dunkaanii Woyyittii san akka gollanuuf, gollaa rifeensa re'e'ee irraa hujame kudhanii tokko huji.

⁸ Gollaan kudhanii tokko sun tokko tokkoon isaaniituu dheerinni isaanii ciqilee soddoma, badhinna isaanii ciqilee afur, marti isaaniituu wol qixa te'anuu ti.

⁹ Gollaa shanan wolitti qassiisii hodhi; jaan hafane kaanille gara kaaniin wolitti qassiisii hodhi. Gollaa jayeesso'oo Dunkaanii Woyyittii fuula duraan irra dachaasi.

¹⁰ Irga gollaa wolitti hodhamane ka qaraatitti qubeelee shantama, ka lammeesso'oo irralle'etti qubeelee shantama itti hodhi.

¹¹ Hookkoo sageettu'uu shantama hujiitii, gollaa gama lamaanii san wolitti qassiisiisaan Dunkaanii Woyyittii takkattii akka teetu hookkoo san qubeelee shantama san keessa galchi.

¹² Gollaan Dunkaanii Woyyitti'ii irraa hafe gamsi isaa gara duubaatiin gad rarra'uu ti.

¹³ Gara dheerinnaatiin, gollaan hafe gara lamaaniiinuu, ciqileen tokko tokko Dunkaanii Woyyittii irra gad rarra'uu ti.

¹⁴ Gogaa korbeessa hoole'ee ka hallame irraa Dunkaanii Woyyittii saniif irbuusa huji; ka dhibiille gogaa hoolee galaanaa irraa hujiitii irra buusi.

¹⁵ «Mikikkiloota Dunkaanii Woyyittii ol dhaabbachiisanu muka gololchaa irraa huji.

¹⁶ Dheerinni mikikkiloota sanii ciqilee kudhan, badhinna isaanii ciqilee tokkoo fi wodhakkaa te'anuu ti.

¹⁷ Mikikkilooti Dunkaanii Woyyitti'ii sun akka wol keessa seenanu qaccee irratti gaafa lama ka cinaa wolii jiru huji; akka kanaan mikikkiloota Dunkaanii Woyyitti'ii mara huji.

¹⁸ Dunkaanii Woyyittii cinaa gara kibbaatiif mikikkiloota diddama huji.

¹⁹ Mikikkiloota diddama saniif shafee meetii irraa hujante afurtama huji; gaafoti lama ka mikikkila tokkoo akka keessa seenanuuf shafee lama lama huji.

²⁰ Dunkaanii Woyyittii san cinaa gara kaabaatiif mikikkiloota diddama huji.

²¹ Mikikkiloota diddama saniif, shafee meetii irraa hujante afurtama hujiitii, mikikkila tokko tokko jala shafee lama lama keyi.

²² Dunkaanii Woyyittii cinaa gara aduun seentuutiif mikikkila jaa huji.

²³ Roga irga irgaatiif mikikkila lama lama huji.

²⁴ Roga lamaan kana irratti mikikkilooti kun jalaa haga gubba'aatitti lama lama te'anee, qubee takkattii keessa seenuu qaban. Gara lamaaniiinuu akkasuma te'uu qaba.

²⁵ Maarre mikikkiloota saddeetii fi shafee meetii irraa hujante kudhanii jaatti achi jira; mikikkila tokko tokkoofuu shafee lama lamatti itti keyama.

²⁶ «Muka gololchaa* irraa danqaraa shanan mikikkiloota cinaa gara tokkootiif,

²⁷ shan mikikkiloota cinaa gara kaaniitiif, shanan hafane mikikkiloota gara seensa adu'uu jiranuuf huji.

²⁸ Danqaraan wodhakkaa, mikikkiloota wodhakkaa cinaa kaan irraa haga cinaa gara kaaniititti fulla'uu ti.

²⁹ Mikikkiloota san worqii itti gonfi; danqarooti sun akka keessa seenanu qubeelee worqi'ii huji; danqaroota sanille worqii itti gonfi.

³⁰ «Dunkaanii Woyyittii san akka ani gaara irratti sitti mudhise sanitti dhaabi.

³¹ «Gollaa liilana quncee talba'aa dansaa ka bifa cuquliisaa, ka bifa dhiille'eetii fi diimaa irraa wolitti fowamee dhowanteen huji. Nami hujii harkaa beeku, fakkii dada ol-gubba'aa ta koola qadduu irratti hujuu ti.

³² Hookkoo worqii irraa hujame ka utuboota muka gololchaa ka worqiin itti gonfanteertu irra jiranu irratti fannisiitii, shafee meetii irraa hujame irra dhaabi.

* **26:26 Muka gololchaa:** Muki gololchaa kun gosa muka waaccu'uu hedduu keessaa tokko. Inni akka malee jabaa waan te'eef ijaarsaaf barbaachisa'a.

³³ Gollaa san hookkota san irratti fannis. Saanduqa Gondooro'oo gollaa san gara duubaatiin keyi; Gollaan sun addee irra caalaa woyyitti'ii fi addee woyyittii gargar qooda.

³⁴ Qadaaddaa addee gumaa cubbu'uu, Saanduqa Gondooro'oo ka Addee Irra Caalaa Woyyittii san keessa jiru irra keyi.

³⁵ Xarapheessaa addee irra caalaa woyyitti'iin ala Dunkaanii Woyyittii keessa gara kaabaatiin keyiitii, waan issaa irra keyanu fuullee isaa gara kibbaatiin keyi.

³⁶ «Seensuma Dunkaanii Woyyitti'itiif, gollaa liilana quncee talba'aa dansaa ka bifa cuquliisaa, ka bifa dhiille'eetii fi diimaa irraa nama hujii harkaa beekuun wolitti fowamee dhowame keyi.

³⁷ Gollaa kanaaf hookkoo worqi'itii fi utubaa muka gololchaa shan ka worqii itti gonfame huji. Utuboota kanaaf shafee sageettu'uu shan tumi.

27

Addee Ciinca'aa

¹ «Addee ciinca'aa muka gololchaatiin ijaari. Dheerinni isi'ii ciqilee shan, badhinna isi'iille ciqilee shan, hojjaan isi'ii ciqilee sad te'uu ti. Cinaan isi'ii martinuu wol qixxee te'uu qaban.

² Gaafotii fi addeen ciinca'aa tokko akka te'anuu roga isi'ii arfanuu irratti gaafota itti baasiitii, sageettuu itti gonfi.

³ Okkotee daadhaa itti haranu, waan ibidda irratti bobeessanu, qorii dhiiga fiffixanu qabattu, filaa foonii sageettuu irraa huji.

⁴ Waan akka meemme'ee ka cilee qabatee daadhaa gad harcaasu sageettuu irraa itti huji; roga waan akka meemme'ee san arfanuu irratti qubeelee sageettu'uu itti huji.

⁵ Haga hidha addee ciinca'aa ol akka dheerattu, waan akka meemme'ee san xiyyoo isi'ii jala keyi.

⁶ Addee ciinca'aa san akka ittiin ba'atanu, danqaraa muka gololchaa hujiiitii sageettuu itti gonfi.

⁷ Yennaa addee ciinca'aa san ba'atanu danqaroota gama lamaan qubeelee san keessa loosi.

⁸ Akkuma ani gaara irratti sitti mudhise sanitti, addee ciinca'aa falaxaa irraa boollessii huji.

Dalleya Badhinna Dunkaanii Woyyitti'ii

⁹ «Badhinna Dunkaanii Woyyitti'ititti dalleya ijaari; dalleenni sun gollaa quncee talba'aa dansaa irraa fowamee hujame qabaatuu ti; dalleenni sun gara kibbaatiin ciqilee dhibba dheeratee,

¹⁰ utuboota shafee sageettu'uu qabu diddama ka hookko'oo fi qubeelee meetii irraa hujamane ifi irraa qabu qabaatuu ti.

¹¹ Gara kaabaatile'een akkuma kana ciqilee dhibba dheeratee, utuboota shafee sageettu'uu qabu diddama ka hookko'oo fi qubeelee meetii irraa hujamane ifi irraa qabu qabaatuun hujamuu ti.

¹² «Badhinna dalleya keessaa sun gara seensa adu'uutiin, ciqilee shantama badhatee, golla'aa fi utuboota kudhan shafee kudhan qabanu qabaatuu ti.

¹³ Dhuma gara ila boru'uu, karaa aduun baatuun, ciqilee shantama badhatuu ti.

¹⁴ Dheerinni golla'aa seensuma irraa gara tokkoon ciqilee kudhanii shan te'ee, utuboota sad ka shafee sad qabanu qabaatuu ti.

¹⁵ Akkasuma seensuma irraa gara kaaniin dheerinni golla'aa ciqilee kudhanii shan te'ee, utuboota sad ka shafee sad qabanu qabaatuu ti.

¹⁶ «Seensuma gara badhinna dalleya keessaa ka Dunkaanii Woyyitti'ii saniif, gollaa ciqilee diddama dheeratu, ka liilana quncee talba'aa dansaa ka bifa cuquliisaa, ka bifa dhiille'eetii fi diimaa irraa nama hujii harkaa beekuun wolitti fowamee dhowame, utuboota afur ka shafee afur qabanu qopheessi.

¹⁷ Utubooti naannoo badhinna dalleya keessaa sanii marti qubeelee meetii irraa hujante, hookko'oo fi shafeelee sageettuu irraa hujante qabaatanuu ti.

¹⁸ Dheerinni badhinna dalleya keessaa sun ciqilee dhibba, badhinni isaa ciqilee shantama te'uu ti; gollaa quncee talba'aa dansaa irraa hujame ka hojjaan isaa ciqilee shaniitii fi shafee meetii irraa hujamane qabu te'uu ti.

¹⁹ Mey Dunkaanii Woyyittii keessatti tajaajila adda addaa kennu marti, chikaalli Dunkaanii Woyyitti'iitii fi chikaalli badhinna dalleya keessaa marti ka sageettuu irraa hujamane te'anuu ti.

Zayitii Ifaaf Barbaachisu

²⁰ «Ifi yennaa mara akka ifu, Israa'elooti zayitii ejersaa qulluu akka sii fidanu ajaji.

²¹ Aaronii fi ilmaan isaa Dunkaanii Woldeenna'aa keessatti, gollaa Dunkaanii Dhugaa Bayaa fuula dura jiruun alatti ifi galgalaa haga gana-maatitti ana Mootii Waan Maraa duratti akka ifu godhanuu ti. Kun Israa'eloota oddu'utti dhaloota dhufuuf seerata bara baraa te'uu ti.

28

Woyaa Hayyootaa

¹ «Hayyoota te'anee akka na tajaajilanu, kolbaa Israa'elii keessaa obboleessa keeti Aaron, ilmaan isaa Naadaab, Abiihuu, Ele'azaar fi Itaamaar woliin gara keeti dhikeessi.

² Kabajja'aa fi ulfinna isaatiif, obboleessa keeti Aaroniif woyaa woyyumma'aa huji.

³ Maarre akka inni hayyicha te'ee na tajaajilu, isa adda baasiisaaf, Aaroniif woyaa akka hujanu, worra ani ogummaa kenneeruuf maratti himi.

⁴ Woyaan isaan hujanu: kiisii qomaa, woyaa hayyumma'aa ta qomaa, qoloo, qoloo haga miilaa dheerattu, marata mata'aatii fi hiitu'u. Obboleessi keeti Aaronii fi ilmaan isaa hayyoota te'anee akka na tajaajilanu, woyaa woyyumma'aa isaaniif hujanuu ti.

⁵ Isaan woyaa san worqii, liilana bifa cuquliisaa, ka bifa dhiille'ee, ka bifa diimaa ka quncee talba'aatiin hujanuu ti.

⁶ «Worri hujii harkaa beeku sun woyaa hayyumma'aa ta qomaa worqi'in, liilana quncee talba'aa dansaa ka bifa cuquliisaatiin, ka bifa dhiille'eetiin, ka bifa diima'aa ka wolitti fowameen hujanuu ti.

⁷ Gurmuu lamaan irra hiituu lama ta qaccee duraa fi duubaa lama wolitti hiitu qabaattuu ti.

⁸ Hiituun worra hujii harkaa beekuun hujante sun, akkuma woyaa hayyumma'aa ta qomaa san worqi'in, liilana bifa cuquliisaatiin, ka bifa dhiille'eetiin, ka bifa diima'aa ka quncee talba'aa dansa'aan wolitti fowantee hujantee, woyaa hayyumma'aa ta qomaa woliin tokko teetee, wolitti qassi-ifantee hujantuu ti.

⁹ «Ati dhakaa gatii guddo'oo lama fuudhiitii, maqaa ijoollee Yaaqoobii kudhanii lamaa irratti qiriixi;

¹⁰ akkuma tarree dhaloota isaaniititti, dhakaa tokkocha irratti maqaa jaa, ka hafe jaan dhakaa kaan irratti qiriixi.

¹¹ Akkuma nama chaappaa qiriixuu atille maqaa ijoollee Yaaqoobii dhakaa lamaan san irratti qiriixi; achiin duuba dhakoota san, seesa xiyyoo worqi'ii ka daraaraa fakkaatu keessa galchi.

¹² Yaadannoo ijoollee Yaaqoobii akka te'u, dhakaa lamaan san, fannoo woyaa hayyumma'aa ta qomaa irratti qassiisi. Ani Mootiin Waan Maraa yennaa mara kolbaa tiyya akka yaadadhu, Aaron maqaa isaanii gurmoo ifii irratti ba'atuu ti.

¹³ Ati xiyyoo seesa worqi'ii ta daraaraa fakkaattu hujiitii,

¹⁴ haachaba worqii qullu'uu, ka akka wodaro'oo fowame lama hujiitii, xiyyoo seesa worqi'ii ka daraaraa fakkaatu saniin wolitti qassiisi.

Kiisii qomaa

¹⁵ «Kiisii qomaa ta mey fedha kiyya ittiin gaafatanu keessa tee'u, akka nami hujii harkaa beeku huju huji. Akkuma woyaa hayyumma'aa ta qomaa worqi'ii, liilana bifa cuquliisaatiin, ka bifa dhiille'eetiin, ka bifa diima'aa ka quncee talba'aa dansa'aan wolitti fowantee dhowantee san huji.

¹⁶ Kiisiin sun dheerinni isi'ii taakkuu tokko, badhinni isi'iille taakkuu tokko teetee, dachaafantee rogi isi'ii arfanuu wolqixa te'uu ti.

¹⁷ Achiin duuba isii irratti dhakaa gatii guddo'oo tarree afuriin itti maxxansi; tarree qaraatitti dhakaan gatii guddo'oo saardiyon, tophaaziyon fi simaaragidos,

¹⁸ tarree lammeesso'ootitti kaarbunkil, safiiosii fi Yaasphis,

¹⁹ tarree sadeesso'ootitti Hiiyaakinxos, kaalqedon, ametiisxos,

²⁰ tarree arfeesso'ootitti kirisoliixos, sardonikis fi beerilos seesa xiyyoo worqi'ii ta daraaraa fakkaattuun itti maxxansi.

²¹ Gosa Israa'elii kudhanii lamaaf qaabbii akka te'u, dhakoota gatii guddo'oo kudhanii lamaan san irratti, maqaan ilmaan Yaaqoobii kudhanii lamaa ka tokko tokkootuu akka chaappa'aa irratti qiriixamuu ti.

²² «Kiisii qomaa saniif seesa haachaba worqii qullu'uu, ka akka wodaro'oo fowame huji.

²³ Qubeelee worqi'ii lama hujiitii roga kiisii qomaa san lamaanitti qassiisi.

²⁴ Seesa haachaba worqii qullu'uu lamaan san, qubeelee lama ta roga kiisii qomaa irra jirtu saniin wolitti qassiisi.

²⁵ Qaccee seesa haachabootaa san lamaan, hiituu woyaa hayyumma'aa ta qomaa ta gara duraatiin jirtu ta gurmoo irra qaxxaamurtu keessa galchiitii, xiyyoo seesa worqi'ii lama ta daraaraa fakkaatu saniin wolitti qassiisi.

²⁶ Qubeelee worqi'ii lama hujiitii, roga lama ka kiisii qomaa ka dhibi'ititti, qaccee kiisii qomaa ta gara keessaa ta woyaa hayyumma'aatitti aantee jirtutti qassiisi.

²⁷ Ammalle qubeelee worqi'ii ta dhibii lamaan hujiitii, gara duraatiin, hiituu woyaa hayyumma'aa ta qomaa ta gurmoo irra qaxxaamurtu gara jalaatiin addee hiituun woyaa hayyumma'aa ta qomaa wolitti hodhanteertuun gubba'atti qassiisi.

²⁸ Qubeelee kiisii qomaa irra jirtu, kiisiin qomaa woyaa hayyumma'aa ta qomaatiin akka wol gad hin lakkinne, hiitu'uun wolitti qassiisiisaan, liilana bifa cuquliisaatiin qubeelee woyaa hayyumma'aa ta qomaatiin wolitti hidhi.

²⁹ «Aaron yennaa gara addee woyyitti'ii seenu, yennuma mara ana Mootii Waan Maraa duratti akka isaan ittiin yaadatamanu, maqaa ilmaan Yaaqoobii kiisii qomaa, ta mey fedhii tiyya ittiin gaafatanu keessa jiru keessatti qoma ifii irratti ba'atuu ti.

³⁰ Uriimii fi tumiimille* kiisii qomaa san keessa hin keetta; maarre Aaron gara addee woyyittii fuula ana Mootii Waan Maraa dura yennaa seenu, Uriimii fi tumiim kiisii qomaa san keessa keyatee, qoma ifii irratti ba'atuu ti.

Woyaa Hayyootaa Ta Dhibii

³¹ «Qoloon woyaa hayyumma'aa ta qomaa woliin uffatanu guutumatti bifa cuquliisaa teetuu ti;

³² Gara gubba'aa wodhakkaa isi'iitiin qowa mataan seenu qabaattuu ti; qowi sun akka hin tarsaane goodamuu ti.

³³ Irga handaara isaatitti fakkii midhaan muka rumaanii ta bifa cuquliisaa, ta bifa dhiille'eetii fi ta bifa liilana diima'aa hujiitii odduu odduu isaaniititti bilbila worqi'ii itti hidhi.

³⁴ Bilbilli worqi'iitii fi fakkiin midhaan muka rumaanii irga handaara qolo'ootitti tarreessi; tarreen isaalle bilbila worqi'ii, fakkii midhaan muka rumaanii te'anee handaara qolo'oo irratti naanneffaman.

³⁵ Aaron yennaa tajaajilu qoloo tana uffatuu ti; inni ana Mootii Waan Maraa dura addee woyyittii yennaa seenuu fi yennaa gad bawu akka hin duuneef qililleettiin bilbilaa dhage'amuu ti.

³⁶ «Kallacha worqii qullittii irraa hujiitii, «Ka Mootii Waan Maraatiif Woyyoome» jedhiitii akka chaappaa irratti qiriixanu irratti qiriixi.

³⁷ Marata mata'aatitti qassiisiisaaf liilana bifa cuquliisaa itti hidhi. Marata san irratti gara fuula duraatiin te'uu ti.

³⁸ Aaron kallacha san adda ifii irratti keyatuu ti; Aaron yakkaa kennansa woyyicha kolbaan Israa'elii naaf adda baachee dhikeessitu keessa jirtu hin ba'ata. Kolbaan Israa'elii ana Mootii Waan Maraa duratti fudhatama akka qabaattu kallachi sun yennaa mara adda Aaronii irra jiraatuu ti.

³⁹ «Qoloo haga miilaa dheerattuu fi marata mata'aa quncee talba'aa dansa'aan huji; hiituun sunille ta nami hujii harkaa beeku huje teetuu ti.

⁴⁰ «Ilmaan Aaronii kabajja'aa fi ulfinna akka qabaatanu, qoloo haga miilaa dheerattu, hiitu'uu fi gullee mata'aa isaaniif huji.

⁴¹ Woyaa tana obboleessa keeti Aaronii fi ilmaan isaatitti uffitteen duuba, isaan muudiitii hayyoota tolchi; hayyoota te'anee akka na tajaajilanu isaan woyyoonsi.

⁴² «Nafi isaanii ka hilaa akka hin mudhanne, quncee talba'aa irraa mutaandii woyaa jalaan hidhatanu ta hidha irraa kaatee haga gudeedaa geettu isaaniif huji.

⁴³ Nafi isaanii ka hilaa mudhatee isaan akka hin duuneef, Aaronii fi ilmaan isaa yennaa gara Dunkaanii Woldeenna'aa seenanu yookiin tajaajiliisaaf gara addee woyyitti'ii seenanee gara addee ciinca'aa yennaa dhikaatanu mara mutaandii woyaa jalaan hidhatanu tana hidhatanuu ti.

«Kun Aaronii fi sanyii isaatiif seerata bara baraa te'uu ti.

29

Muudamiisa Hayyootaa

¹ «Aaronii fi ilmaan isaa hayyoota te'anee akka na tajaajilanu, isaan woyyoonsiisaaf wonni ati tolchitu kana: Dardara tokkoo fi korbeeyyii hoole'ee lama ta fafa hin qanne fuudhi.

² Bullaa qamadi'ii dansaa ta uukoo hin qanne irraa daabboo, bixee zayitiin sukkuumantee fi bixee hephellittii zayitiin irra dibante hujiitii,

* **28:30** Uriimii fi tumiim: Meya hayyooti Yihudootaa fedhii Waaqaa ittiin gaafatanu.

³ saaxaraa keessa keyiitii, kormaa fi korbeeyyii hoole'ee lama waliin naaf dhikeessi.

⁴ Achiin duuba Aaronii fi ilmaan isaa gara seensuma Dunkaanii Wold-eenna'aa fidiitii, nafa isaanii bisaaniin dhiqi.

⁵ Woyaa hayyootaa fuudhiitii, qoloo haga miilaa dheerattu, qoloo woyaa hayyumma'aa waliin uffatanu, woyaa hayyumma'aa ta qomaatii fi kiisii qomaa Aaronitti uffisi.

⁶ Marata mata'aa itti mariitii, kallacha worqii irraa hujame marata mata'aa sanitti qassiisi.

⁷ Zayitii muudaa fuudhiitii, mataa isaa irratti dhangalaasii isa muudi.

⁸ Ilmaan isaa fidiitii qoloo haga miilaa dheerattu itti uffisi.

⁹ Hidha Aaroniitii fi ilmaan isaatitti hiituu hidhi; maratalle mataa isaaniititti mari. Akka kanaan Aaronii fi ilmaan isaa hayyoota akka te'anuu godhi. Hayyummaan seera bara baraa isaaniif teetuu ti.

¹⁰ «Dardara Dunkaanii Woldeenna'aa dura fidiitii, Aaronii fi ilmaan isaa mataa isaa irra harka akka keyanu godhi.

¹¹ Dardara san seensuma Dunkaanii Wolgeyi'iititti Mootii Waan Maraa duratti qali.

¹² Dhiiga korma sanii irraa diqqaa isaa fuudhiitii, quba keetiin gaafota addee ciinca'aa dibi. Ka hafe addee ciinca'aa jalatti dhangalaasi.

¹³ Achiin duuba moora meya gadha'aa, qaccee tiru'uutii fi kalattii lamaanuu moora isii irra jiru waliin fuudhiitii addee ciinca'aatitti ciinnessi.

¹⁴ Foon dardaraa, gogaa isaatii fi meya gadha'aa ka isaa addee qutumaatiin alatti gubi. Kun ciincaa araara cubbu'uutiif dhikaatu.

¹⁵ «Korbeeyyii hoole'ee lamaan san keessaa tokkocha fuudhii, Aaronii fi ilmaan isaa mataa isaa irra harka ifii akka keyanu godhi.

¹⁶ Korbeessa san qaliitii, dhiiga isaa fuudhiitii cinaa addee ciinca'aa arfanittuu fiffixi.

¹⁷ Foon korbeessaa san kukkuttii, meya gadha'aatii fi luka isaa dhiqiitii, mata'aa fi foon kukkutame kaan waliin keyi.

¹⁸ Achiin duuba foon korbeessaa san mara addee ciinca'aa irratti gubi; kun kennansa ibiddaan gubamee ana Mootii Waan Maraatiif dhikaatu, ka foolee dansaa qabu ka ana Mootii Waan Maraa gammachiisu.

¹⁹ «Korbeessa hoole'ee kaanille fuudhiitii, Aaronii fi ilmaan isaa mataa isaa irra harka ifii akka keyanu godhi.

²⁰ Korbeessa san qaliitii, dhiiga isaa irraa diqqaa isaa fuudhiitii, qaccee gurra Aaronii ka gara middaatii fi gurra ilmaan isaa ka gara middaa, quba isaanii abguddicha* ka harka middichaatii fi quba isaanii abguddicha ka miila middichaa dibi; ka hafe cinaa addee ciinca'aa arfanittuu fiffixi.

²¹ Dhiiga addee ciinca'aa irraa diqqaa isaatii fi zayitii muudaa irraa diqqoo isi'ii fuudhiitii Aaronii fi woyaa isaatitti, ilmaan isaatii fi woyaa isaaniititti fiffixi. Achiin duuba Aaronii fi woyaan isaa, ilmaan isaatii fi woyaan isaanii hin woyyooman.

²² «Korbeessa hayyuu ittiin te'anuu waan te'eef, korbeessa san irraa: cooma duma isaa, moora meya gadha'aa, qaccee tiru'uu, kalattii lamaanuu moora isi'ii waliin, luka gara middaa fuudhi.

²³ Saaxaraa daabboo uukoo hin qannee ta Mootii Waan Maraa dura jirtu keessaa xaltaa, bixee zayiti'ii sukkuumantee fi bixee hephellittii fuudhi.

²⁴ Kana maraa harka Aaroniitii fi ilmaa isaa irra keyiitii kennansa tachoofamu godhiitii ana Mootii Waan Maraa duratti tachoosi.

* 29:20 Quba abguddicha: Quba arguddicha worri jedhulle hin jira.

²⁵ Achiin duuba harka isaanii irraa fuudhiitii addee ciinca'aa irratti, kennansa gubamu woliin gubi. Kun kennansa ibiddaan gubamee ana Mootii Waan Maraatiif dhikaatu, ka foolee dansaa qabu ka ana Mootii Waan Maraa gammachiisu.

²⁶ Yennaa Aaron hayyuu te'u cormii korbeessa hoole'ee fuuteen duuba, kennansa tachoofamu godhiitii ana Mootii Waan Maraa duratti tachoosi. Kun gooda keeti hin te'a.

²⁷ «Aaronii fi ilmaan isaa yennaa hayyoota te'anu, cormii tachoofantee fi luka korbeessa hoole'ee ta dhikaatte san woyyoonsi.

²⁸ Kennansa tokkumma'aa ka Israa'elooti ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessitu keessaa, kun yennaa mara gooda Aaroniitii fi ilmaan isaa te'uu ti.

²⁹ «Aaron du'een duuba woyaa isaa woyyittii san akka muudantee hayyuu ittiin teetu sanyiin isaa uffattuu ti.

³⁰ Ilmi addee isaatiitti hayyuu te'ee addee woyyittii keessa tajaajilaaf gara Dunkaanii Woldeenna'aa seenu guyyaa torba uffatuu ti.

³¹ «Foon korbeessa hoole'ee ka yennaa isaan hayyuu te'anu qalame san fuudhiitii addee woyyitti'itti iffeeli.

³² Aaronii fi ilmaan isaa foon korbeessaa sanii fi daabboo saaxaraa keessaa san seensuma Dunkaanii Woldeenna'aatiitti nyaatanuu ti.

³³ Isaan kennansa yennaa isaan hayyuu te'anu gumaa cubbu'uutiif dhikaate san nyaatanuu ti; kennansi kun woyyuu waan te'eef, nami dhibiin hin nyaatin.

³⁴ Foon korbeessa yennaa isaan hayyuu te'anu qalamee yookiin daaboon hattee yoo bulte gubi; sagalee woyyittii waan teeteef hin nyaatamin.

³⁵ «Seera isaan hayyoota ittiin te'anu guyyaa torba keessatti muummessi isaan, Aaronii fi ilmaan isaatiif, waan ani si ajaje mara tolchi.

³⁶ Gumaa cubbu'uu tolchiisaaf, guyyuma guyya'aan dardara tokko araara cubbu'uutiif ciinCESSI. Gumaa cubbu'uu tolchiisaan addee ciinca'aa qulqulleessiitii, isii woyyoonsiisaaf muudi.

³⁷ Guyyaa torba addee ciinca'aatiif gumaa cubbu'uu tolchiisaan isii woyyoonsi. Achiin duuba addeen ciinca'aa sun irra caalaa woyyittii hin teeti; wonni isii tuqu marti woyyuu hin teeti.

Kennansa Guyyuma Guyya'aan Dhikaatu (Lak. 28:1-8)

³⁸ «Yennaa mara guyyuma guyya'aan buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokko tokkoo lama addee ciinca'aa irratti ciincaa dhikeessi.

³⁹ Buruusoo korbeessa hoole'ee tokko ganama, buruusoo korbeessa hoole'ee tokko galgala ciincaa dhikeessi.

⁴⁰ Buruusoo korbeessa hoole'ee ka qara dhikaatu woliin bullaa qamadi'ii dansaa kiillogiraama tokko ta zayitii ejersaa qullittii litirii tokkoon sukkuumantee fi kennansa daadhii woyni'ii litirii tokko dhikeessi.

⁴¹ Buruusoo korbeessa hoole'ee kaan akkuma buruusoo korbeessa hoole'ee ka qaraa kaanitti kennansa midhaaniitii fi kennansa daadhii woyni'ii woliin kennansa ibiddaan gubamee dhikaatu, ka foolee dansaa qabu, ka ana Mootii Waan Maraa gammachiisu godhiitii, galgala dimimmisa ciincaa dhikeessi.

⁴² «Kennansi gubamu kun dhaloota dhufuufille seensuma Dunkaanii Woldenna'aatiitti ana Mootii Waan Maraa duratti yennaa mara dhikaata. Ani achitti si'iin wol dhaggee, si'itti hin dubbadha.

⁴³ Ani achitti Israa'elootalle'een wol hin dhagga; addeen sunille ulfinna kiyyaan hin woyyoonti.

⁴⁴ «Maarre ani Dunkaanii Woldeenna'aatii fi addee ciinca'aa hin woyy-oonssa; Aaronii fi ilmaan isaalle hayyoota te'anee akka na tajaajilanu hin woyyoonsa.

⁴⁵ Achiin duuba ani Israa'eloota odduu jiraadhee Waaqa isaanii hin te'a.

⁴⁶ Odduu isaanii jiraatiisaaf biyya Gibxi'ii keessaa ka isaan baase ani Mootii Waan Maraa Waaqa isaanii akka te'e hin beekan. Ani Mootii Waan Maraa Waaqa isaanii ti.

30

Addee Ciinca'aa Ta Hixaana Itti ciincessanu

¹ «Addee ciinca'aa ta hixaana itti ciincessanu muka gololchaatiin ijaari.

² Dheerinni isi'ii ciqilee tokko, badhinni isi'ii ciqilee tokko, hojjaan isi'ii ciqilee lama te'ee, rogi arfanuu wol qixa te'uu ti. Roga arfanittuu gaafota itti baasi.

³ Gubbaa isi'iitii fi roga isi'ii mara, gaafota isi'iille worqii qulluu itti gonfi. Roga isi'ii irra naannessii xiyyoo worqi'ii itti huji.

⁴ Danqaraa keessa loosanee addee ciinca'aa ittiin ba'atiisaaf, qubee worqi'ii lama hujiitii xiyyoo jalatti gama lamaanittuu qassiisi.

⁵ Muka gololchaa irraa danqaraa hujiitii worqii itti gonfi.

⁶ Addee ciinca'aa san gollaa Saanduqa Gondooro'ootiin duratti fannifameeruun fuula dura, qadaaddaa addee gumaan araara cubbu'uu irra keyamu ka Saanduqa Gondooro'oo irra jiru addee ani si'iin wol dhaggu san dura keyi.

⁷ «Aaron yennaa issaa qopheessu, ganama ganama addee ciinca'aa irratti hixaana foolee dansaa qabu aarsuu ti.

⁸ Inni galgala dimimmisa yennaa issaa issu, hixaana aarsuu ti; maarre hixaanni dhaloota dhufuuf, ana Mootii Waan Maraa duratti yennaa mara hin aarfama.

⁹ Addee ciinca'aa tana irratti hixaana dhooggame hin aarsin yookiin kennansa gubamu yookiin kennansa midhaanii hin dhikeessin; kennansa daadhii woyni'iille irratti hin dhibaasin.

¹⁰ Aaron wogga'atti yennaa tokko, gumaa cubbu'uu gaafota isi'ii irratti tolchuu ti. Gumaan araara cubbu'uu ka wogga'atti tolfamu kun dhiiga araaraa cubbu'uu waliin dhaloota dhufu maraaf tolfamuu qaba. Gumaan kun ana Mootii Waan Maraatiif irra caalaa woyyicha» jedhe.

Beesee Gumaa Araara Cubbu'uu

¹¹ Mootiin Waan Maraa ammalle Muuse'een,

¹² «Ati kolbaa Israa'elii yennaa laakkottu, isaan yennaa laakkowamanu, balaan akka isaanitti hin buune, wodoo lubbuu ifii ana Mootii Waan Maraatiif kaffalanuu ti.

¹³ Worri laakkossatti dabalamu martinuu akka madaallii Dunkaanii Woyyitti'iititti meetii gara giraama kudhanii tokkoo* kennuu ti. Kennansi kun ana Mootii Waan Maraatiif kennama.

¹⁴ Worri laakkossatti dabalamu marti, ka woggaa diddamaatii fi woggaa diddamaa olii, kennansa naaf kennanuu ti.

¹⁵ Gumaa araara cubbuu teessaniitiif, kennansa ana Mootii Waan Maraatiif yennaa kennitanu, dureessichi meetii gara giraama kudhanii tokkoo caalaa, hiyyeessille meetii gara giraama kudhanii tokkoo hanqisee hin kennin.

¹⁶ Beesee gumaa cubbu'uu tana Israa'eloota irraa fuudhiitii tajaajila Dunkaanii Woldeenna'aa irra oolchi. Lubbuu teessaniif gumaa cubbu'uu

* **30:13** Gara giraama kudhanii tokkoo: Afaan Ibrootaatiin gamisa sheeqeli'ii jedha.

tolchiis kun isin Israa'elootaaf ana Mootii Waan Maraa duratti yaadannoo hin te'a» jedhe.

Gabataa Itti dhiqatanu

¹⁷ Mootiin Waan Maraa ammalle Muuse'een,

¹⁸ «Akka itti dhiqatanu, gabataa itti dhiqatanuu fi waan isa irra keyanu sageettuu irraa hujitii wodhakkaa Dunkaanii Woldeenna'aatii fi addee ciinca'aa keyiitii, bisaan itti naqi.

¹⁹ Aaronii fi ilmaan isaa bisaan saniin harkaa fi miila ifii dhiqatanuu ti.

²⁰ Isaan yennaa Dunkaanii Woldeenna'aa seenanu akka hin duune bisaan saniin dhiqatanuu ti. Isaan kennansa ibiddaan gubamu ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessiisaan tajaajiliisaaf gara addee ciinca'aa yennaa dhikaatanulle,

²¹ akka hin duuneef harkaa fi miila ifii bisaan saniin dhiqatanuu ti. Kun dhaloota dhufuuf, Aaronii fi sanyii isaatiif seerata bara baraa te'uu ti» jedhe.

Zayitii Muudaa

²² Mootiin Waan Maraa ammalle Muuse'een,

²³ «Uddowaa dansaa: fiqiree qumbi'ii gara kiiloogiraama jaa, qarafaa gara kiiloogiraama sadii, marra uddowu gara kiiloogiraama sadii,

²⁴ dakkara gara kiiloogiraama jaa fuudhiitii akka madaallii Dunkaanii Woyyitti'iititti, zayitii ejersaalle gara litirii afurii itti ede'iitii,

²⁵ akka fiqiree worri hujii isi'ii beeku hujuu godhiitii zayitii muudamaa woyyittii hujii. Isiin zayitii muudamaa woyyittii hin teeti.

²⁶ Achiin duuba Dunkaanii Woldeenna'aatii fi Saanduqa Gondooro'oo,

²⁷ xarapheessa'aa fi meya isaa mara, waan issaa irra keyanuu fi meya isi'ii mara, addee ciinca'aa ta hixaanni irratti aarfamu,

²⁸ addee ciinca'aa ta kennansa gubamuutii fi meya isi'ii mara, akkasuma gabataa itti dhiqatanuu fi waan isa irra keyanu dibi.

²⁹ Akka isaan irra caalaa woyyoomanu ati isaan woyyoonsi; isaanille irra caalaa woyyuu hin te'an; ka isaan tuqe marti woyyuu hin te'a.

³⁰ Hayyoota te'anee akka na tajaajilanu Aaronii fi ilmaan isaa muudiitii woyyoonsi.

³¹ «Kolbaa Israa'eliitiin, «Tun dhaloota dhufuuf zayitii woyyittii tiyya ta muudamaa ti.

³² Zayitii tana nama mara irratti hin dhangalaasina'a. Zayitii akka kanaa ta dhibiille hin hujina'a; isiin woyyitti'i; akka isiin woyyuu teetelle qalbeef-fadha'a.

³³ Nami zayitii akka kanaa ta dhibii hujee, hayyoota malee nama dhibii muude marti, kolbaa ifii keessaa bawuu ti» jedhi» jedhe.

Hixaana Qopheessuu

³⁴ Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Uddowaa dansaa: ceem'aa[†] muka uddowuu, uddowaa muka adda addaa irraa dhaggamu, aanan muka uddowuutii fi hixaana muka hin qanne ka madaalliin isaanii wol qixxee te'ane fuudhiitii,

³⁵ akka fiqiree worri hujii isi'ii beeku hujuu, atille soodda itti naqiitii hixaana qulluu woyyicha qopheessi.

³⁶ Isa irraa diqqaa isaa daakii bulleessiitii, Dunkaanii Woldeenna'aa keessaa addee ani si'iin wol dhaggu Saanduqa Gondooro'oo fuula dura keyi; inni irra caalaa woyyuu si'iif te'a.

[†] 30:34 Ceem'aa mukaa: Hambee mukaa worri jedhulle hin jira.

³⁷ Hixaana akkasii ifiif hin qopheeffatin; inni ana Mootii Waan Maraatiif woyyuu akka te'e qalbeeffadhu.

³⁸ Nami ittiin gammadiisaaf hixaana akkasii hujate, kolbaa ifii keessaa bawuu ti» jedhe.

31

Bazaali'elii Fi Aholiyyaab

¹ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een

² «Kunoo, ani gosa Yihuda'aa keessaa akaakoo Huurii, ilma Urii Bazaali'el filadhee,

³ ogumma'aan, dandeetti'ii fi beekkumsaan hujii harkaa mara akka huju Ayyaana kiyyaan isa guuteera.

⁴ Inni akka itti worqii, meeti'ii fi sageettuu hujanu karoora hin baasa.

⁵ Inni dhakaa dhodhoosee qiriixee, mukalle bocee xabbee, hujii harkaa mara hin huja.

⁶ Ammalle, gosa Daanii keessaa ilma Ahisamaakii Aholiyyaab akka isa qarqaaru fileera; waan ani si ajaje mara akka hujanu, worra hujii harkaa beeku maraafille ani ogummaa kenneera.

⁷ Dunkaanii Woldeenna'aa, Saanduga Gondoorootii fi qadaaddaa araarri cubbu'uu irra keyamu ka isii irra jiru, meya Dunkaanii Woldeenna'aa mara,

⁸ xarapheessa'aa fi meya isaa mara, waan issaa irra keyanu ka worqii qulluu irraa hujamee fi meya isi'ii mara, addee ciinca'aa ta hixaanni irratti aarfamu,

⁹ addee ciinca'aa ta kennansa gubamuutii fi meya isi'ii mara, gabataa itti dhiqatanuu fi waan gabataan sun irra keyamu,

¹⁰ woyaa kuulante woyyittii ta Aaronii fi ilmaan isaa yennaa hayyumma'aan tajaajilanu uffatanu,

¹¹ zayitii muudaa, addee woyyitti'iiifille hixaana uddowu akkuma ani si ajajetti hujanuu ti» jedhe.

Sanbata

¹² Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

¹³ «Kolbaa Israa'eliitiin, «Guyyaa Sanbataa kiyya eeggadha'a. Ani Mootii Waan Maraa ka isin woyyoonsu akka te'e akka beettanuuf, dhaloota dhufu mara keessatti Sanbati kun anaa fi isin wodhakka'atti beessisa hin te'a.

¹⁴ Guyyaan Sanbataa isiniif woyyuu waan te'eef, Sanbata eeggadha'a. Nami Sanbata eegatuu dhabe ijjeefamuu ti; guyyaa san nami hujii huju marti kolbaa ifii keessaa bawuu ti.

¹⁵ Guyyaa jaa hujii teessan hujadha'a; guyyaan torbeesso'oo ammoo guyyaa ana Mootii Waan Maraatiif woyyoome Sanbati guyyaa fooraa ti. Nami guyyaa Sanbataa hujii huje marti ijjeefamuu ti.

¹⁶ Kolbaan Israa'elii dhaloota dhufu mara keessatti, Gondooroo bara baraa gootee, guyyaa Sanbataa eeggatiisaaf jilifattuu ti.

¹⁷ Ani Mootiin Waan Maraa guyyaa jaa keessatti gubba'aa fi lafa dadee, guyyaa torbeesso'oo ammoo hujii irraa hafuura fudhadhee foorfadhe; guyyaan kun anaa fi Israa'eloota wodhakka'atti haga bara baraa beessisa hin te'a» jedhi» jedhe.

¹⁸ Mootiin Waan Maraa gaara Siina'aa irratti Muusee woliin dubbatee yennaa fixe, dhakaa baxxicha lamaan ka qubuma ifitiin irratti barreesse san Muuse'etti kenne.

32

Fakkii Jabbi'ii Ta Worqii Irraa Hujante

(Kes. 9:6-29)

¹ Kolbaan sun Muuseen gaara irraa gad bu'iisa dhabee akka ture yennaa dhaggite, Aaronitti dachaatee, «Muuseen nu sooressee biyya Gibxi'ii keessaa nu baase sun maan akka te'e hin beennu; tanaaf ka'itii waaqota nuun dura deemanu nuu huji» jedhaneen.

² Aaronille deebisee, «Worqii gurraa ta dubartoota teessanii, ta ilmaan teessaniitii fi durra teessanii irraa baasa'aatii gara kiyya fida'a» jedheen.

³ Maarre kolbaan martinuu worqii gurraa ta ifii baafatanee gara Aaronii fidane.

⁴ Innille worqii san harka isaaniitii fuudhee, meya fakkii ittiin hujatanu keessatti baqisiisee, bifa itti baasee, fakkii jabbi'ii worqii irraa huje. Achiin duuba, kolbaan, «Ee Israa'el, waaqi keeti ka biyya Gibxi'ii keessaa si baase isa kana» jette.

⁵ Aaronille yennaa waan kana dhagge, fakkii jabbi'ii ta worqii irraa hujante san duratti, addee ciinca'aa ijaaree, «Boru Mootii Waan Maraatiif guyyaa jilaa te'uu ti» jedhee lallabe.

⁶ Maarre boruuyyaa kolbaan ganamaan kaatee kennansa gubamu dhi-keessitee, kennansa tokkumma'aalle kennite. Achiin duuba isaan nyaataa fi uniisatti gad tee'ane; sirba fokkisiisulle sirbiisatti ka'ane.

⁷ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een «Kolbaan teeti ta ati soores-see biyya Gibxi'ii keessaa baatte waan gara baddeef, ka'ii gad bu'i.

⁸ Isaan waan ani isaan ajaje irraa goranee, worqii baqisiifante irraa waaqa dharaa ka fakkii jabbi'ii ifiif hujatanee isi'iif sagadane; ciincaalle isi'iif dhikeessanee, «Ee Israa'el, waaqi keeti ka biyya Gibxi'ii keessaa si baase isa kana» jedhane.

⁹ Ani kolbaa tana dhaggeera. Isaan worra mataa jabaatu.

¹⁰ Aariin tiyya isaan irratti bobeettee, akka ani isaan fixu ati na lakkisi. Achiin duuba ani gosa guddoo takka si hin tolcha» jedhe.

¹¹ Muuseen ammoo Mootii Waan Maraa Waaqa ifii daadimatee, «Ee Mootii Waan Maraa, kolbaa teeti ta ati hunna guddoo fi irree jaddu'uun biyya Gibxi'ii keessaa baatte irratti aariin teeti maaf bobeetti?

¹² Worri Gibxi'ii, «Mootiin Waan Maraa duruuyyuu yaada hama'aaf, gaara irratti isaan ijjeesee, lafa irraa isaan balleessiisaaf, biyya Gibxi'ii keessaa isaan baase» maaf jedhan ree? Ati aarii teeti ta bobeettu tana caffadhu; kolbaa teeti irralle'etti balaa hin buusin.

¹³ Tajaajiltoota teeti Abrahaam, Yisihaqii fi Yaaqoob ta maqaa keetiin isaaniif kakattee, «Sanyii teessan akka urjii ol gubba'aa hin baceessa; lafa isiniif waadaa gale tana mara sanyii teessaniif hin kenna; latti sun haga bara baraa lafa isaan dhaalanu hin teeti» jette san qaabadhu» jedhe.

¹⁴ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa aarii san caffatee, balaa kolbaa ifii irratti fidiisaaf yaadate san lakkise.

¹⁵ Muuseen dhakaa baxxicha lamaan ka gama lamaaniinuu seerri kudhan duraa fi duubaan itti barreeffameeru san harkatti qabatee, gaara irraa gad bu'e.

¹⁶ Dhakoota baxxicha kana ka huje Waaqa; dhakoota baxxacha kana irratti qiriixee ka seera kana barreesselle Waaqaayyu.

¹⁷ Iyaasuun hogaa caanca kolba'aa yennaa dhage'e, Muuse'een, «Addee quttumaa keessa caanca lolaatitti jira» jedhe.

¹⁸ Muuseelle deebisee, «Caanci ani dhage'e kun caanca sirbaati malee, caanca qeexalaa yookiin caanca bowichaatii moti» jedhe.

¹⁹ Muuseen gara addee quttumaatitti yennaa dhikaate, fakkii jabbi'iitii fi qeexala kolba'aa dhaggee, aaree bobe'ee, dhakaa baxxicha seerri irratti barreeffameeru san harka ifii irraa qolaansee, gaara jalatti caccasse.

²⁰ Fakkii jabbi'ii ta isaan hujane san fuudhee ibiddaan gube. Achiin duuba daakee bulleessee, bisaanitti bittinneessee kolbaan Israa'elii akka untu godhe.

²¹ Inni Aaroniin, «Kolbaan tun maan si goonaan ati akka isaan cubbuu guddoo akkanaa hujanu goote?» jedhe.

²² Aaronille deebisee Muuse'een, «Goottaa kiyya, ati natti hin aarin; kolbaan tun hammeennaan akka qabanteertu atinuu hin beetta.

²³ Isaan anaan, «Muuseen nu sooressee biyya Gibxi'ii keessaa nu baase sun maan akka te'e hin beennu; waaqota nuun dura deemanu nuu huji!» jedhane.

²⁴ Maarre ani, «Nami faaya worqi'ii qaddanu marti baafadha'a» jedhee itti hime; achiin duuba isaan worqii san natti kennanee, anille worqii san ibidda keessa buusee, worqiin sun fakkii jabbi'ii teetee baate» jedhe.

²⁵ Kolbaan seera malee jiraattee, diinoti isaanii akka isaanitti murganu, Aaron akka isaan gad lakkise, Muuseen dhagge.

²⁶ Maarre inni seensuma addee quttumaa dura dhaabbattee, «Nami ka Mootii Waan Maraa te'e marti gara kiyya dhufuu ti!» jedhe; worri Lewwootaa marti gara isaa dacha'ane.

²⁷ Achiin duuba inni, isaaniin, «Mootiin Waan Maraa, Waaqi Israa'elii, «Nami tokko tokkooyyuu shallaagaa ifii hidhatee, addee quttumaa keessa cinaa tokko irraa haga cinaa taanii asii fi achi deemaa obboleessa ifii, jaala ifitii fi ollaa ifii ijjeesuu ti» jedha» jedhe.

²⁸ Lewwootille akkuma Muuseen isaan ajaje tolchane, guyyuma sanuu nami gara kuma sadii dhumate.

²⁹ Achiin duuba Muuseen Lewwootaan, «Ilmaan teessanii fi obboleeyyan teessan irratti waan kaataneef adha Mootii Waan Maraatiif adda baataneertan, tanaaf inni adha isin eebbiseera» jedhe.

³⁰ Guyyaa itti aanu Muuseen kolba'aan, «Isin cubbuu guddoo hujjaneertan; tanaaf ani amma gara Mootii Waan Maraa gara gaaraa ol hin baya; cubbuu teessaniif gumaa tolcha fa te'a» jedhe.

³¹ Maarre Muuseen gara Mootii Waan Maraa deebi'ee, «Aanne'e! Kolbaan tun cubbuu guddoo hujjeerti; worqii irraa waaqota hujanee waaqonfataaneeran.

³² Amma ammoo, maganne'ee cubbuu isaanii, isaaniif araarami; yoo araaramuu dhadde ammoo kitaaba maqaa kiyya itti barreessite keessaa maqaa kiyya haqi» jedhe.

³³ Mootiin Waan Maraa deebisee, Muuse'een, «Nama na duratti cubbuu huje qofa, ani maqaa isaa kitaaba kiyya keessaa haqa.

³⁴ Amma dhaqiitii kolbaa san addee ani sitti hime san geessi! Ergamaan kiyyalte si'iin dura hin deema. Te'uu malee, yennaan ani isaan adabu yoo geette, cubbuu isaaniitiif, ani isaan hin adaba» jedhe.

³⁵ Maarre kolbaan akka Aaron worqii irraa fakkii jabbi'ii huju waan gooteef, Mootiin Waan Maraa balaa isaanitti buuse.

33

Mootiin Waan Maraa Israa'elooti Gaara Siina'aa lakkisane Akka Deemanu Ajaje

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Atii fi kolbaan ati biyya Gibxi'ii keessaa baatte, gara lafa ani, «Sanyii teetiif hin kenna» jedhee, Abrahaamiif, Yisihaqii fi Yaaqoobiif kaku'uun waadaa gale sanii deema'a.

² Ani ergamaa isiniin dura ergee, Kana'aanota, Amoorota, Heetota, Pherizota, Hiiwotaa fi Yibusoota ari'ee hin baasa.

³ Gara lafa aananii fi dammaa san deema'a. Isin kolbaa mataa jabaattu waan teetaneef, karaa irratti akka isin hin balleessineef, ani isin woliin hin deemu» jedhe.

⁴ Kolbaan dubbii rakkittuu tana yennaa dhageette, bowiisa jalqadde; nami tokkolle seesa adda addaa hin keyanne.

⁵ Mootiin Waan Maraa Muuse'een «Ati Israa'elootaan, «Isin kolbaa mataa jabaattu waan teetaneef, ani haguma diqqaalle isin woliin adoo deemu te'ee isin hin balleessa. Amma seesa adda addaa ifi irraa baafadha'a; ani waan isin godhu hin murteessa» jedhi» jedhe.

⁶ Maarre Israa'elooti gaara siina'aa* irratti seesa ifii ka adda addaa ifi irraa baafatte.

Dunkaanii Woldeenna'aa

⁷ Muuseen Dunkaanii san fuudhee addee quttumaatiin ala irraa fageessee dhaabee, «Dunkaanii Woldeenna'aa» jedhee moggaase. Nami Mootii Waan Maraa wo gaafatuu barbaadu marti gara Dunkaanii Woldeenna'aa ta addee quttumaatiin ala jirtu san dhaqa.

⁸ Yennaa Muuseen bayee gara dunkaani'ii deemu mara, kolbaan marti kaatee seensuma dunkaanii ifii dura dhaabbattee, haga Muuseen dunkaanii seenu ilaalti.

⁹ Akkuma Muuseen gara Dunkaani'ii seeneen utubaan duumensaa gad bu'ee seensuma Dunkaani'ii dura dhaabbata; Mootiin Waan Maraalle duumensa keessaa Muusee woliin dubbata.

¹⁰ Kolbaan utubaan duumensaa seensuma Dunkaani'ii dura dhaabbatuun yennaa dhaggitu mara, isaan martinuu ol ka'anee seensuma dunkaanii ifii duratti sagadan.

¹¹ Akkuma nami nama dhibii woliin dubbatu, Mootiin Waan Maraa fula duratti Muusee woliin dubbata; achiin duuba Muuseen gara addee quttumaa deebi'a; Iyaasuun ilmi Nunii dargaggeessichi isa qarqaaru sun ammoo dunkaanii lakkisee hin deemu.

Muuse'ee Fi Ulfinna Mootii Waan Maraa

¹² Muuseen Mootii Waan Maraatiin, «Ati, «Kolbaa tana sooressi» jettee natti hinteerta; te'uu malee, nama na woliin ergitu natti hin hinne; ati, «Ani si beeka; na birattille fudhatama qadda» naan jetteerta.

¹³ Ani si biratti yoo fudhatama qabaadhe, akka si beeku, yennaa mara si biratti fudhatama qabaadhu karaa keeti na barsiisi. Kolbaan tunille kolbaa teeti akka teete qaabadhu» jedhe.

¹⁴ Mootiin Waan Maraalle deebisee, «Anumatti si woliin ideema; fooralle si'iif hin kenna» jedhe.

¹⁵ Muuseelle deebisee, «Ati yoo nu woliin hin ideenne teete asii nu hin baasin.

¹⁶ Ati yoo nu woliin hin ideemin, anii fi kolbaan teeti si biratti fudhatama akka qannu nami attam beeka ree? Ati nu woliin yoo hin jiraatin, anaa fi kolbaa teeti, kolbaa biyya lafaa ta dhibii irraa wonni nu adda godhu maan ree?» jedhe

* **33:6 Gaara Siina'aa:** Maqaan gaara Siina'aa ka dhibiin, «Koreb» jedhama.

¹⁷ Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Ati na biratti fudhatma waan qad-duuf, maqaa keetille'een waan si beekuuf, waan ati na gaafatte kana mara si'iif hin godha» jedhe.

¹⁸ Achiin duuba Muuseen, «Magganne'e, ulfinna keeti natti mudhisi» jedhe.

¹⁹ Mootiin Waan Maraa deebisee, «Dansummaa tiyya mara si'iin dura hin dabarsa; ani maqaa kiyya, Mootii Waan Maraa si biratti hin lallaba. Ani namuma mararfadhu, hin mararfadha; namuma itti gadhaa laafuuf, gadhaa hin laafaaf.

²⁰ Garuu, nami fuula kiyya dhagge le'uu waan hin dandeenneef, ati fuula kiyya dhagguu hin dandeettu.

²¹ Kunoo, addeen ati rassaa irra dhaabbattu, na bira jirti.

²² Yennaa ulfinni kiyya achiin dabaru, baqaqa rassa'aa keessa si keyee, ani haga dabarutti harka kiyyaan si golla.

²³ Achiin duuba ani harka kiyya si duraa fuudhee, ati dudda kiyya hin dhaggita; garuu fuula kiyya hin dhaggitu» jedhe.

34

Dhakaa Baxxicha Lama Ka Seerri Irratti Barreeffame Ka Lammeessoo Hujamane

(Kes. 10:1-5)

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Dhakaa baxxicha lama kama qaraa kaan fakkeessiitii boci. Anille jechoota dhakaa ati caccassite kaan irra jiranu san irratti hin barreessa.

² Ganamaan qophowiitii gara gaara siina'aa ol bayi. Achitti qaccee gaaraa gubba'atti na dura dhaabbadhu.

³ Nami tokkolle si woliin ol hin bayin yookiin gaara irratti eessalle'etti hin mudhatin; gaara san jala horiille hin tikatin» jedhe.

⁴ Maarre Muuseen dhakaa baxxicha lama ka seerri irratti barreeffame kama qaraa kaan ka fakkaatu bocee, akkuma Mootiin Waan Maraa isa ajaje dhakaa baxxicha lama ka seerri irratti barreeffame san harkatti qabatee barii ganama gara gaara Siina'aa ol baye.

⁵ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa duumensa keessa gad bu'ee achitti isa woliin dhaabbatee maqaa ifi, Mootii Waan Maraa lallabe.

⁶ Inni Muusee dura dabaree, lallabee, «Ani Mootiin Waan Maraa, Mootii Waan Maraa, Waqa mararaa arja'a; ka aari'iif hin ariifanne; jaalalli kiyya ka bara baraatii fi arjummaan tiyya baca'a.

⁷ Jaalala kiyya ka bara baraa haga dhaloota kuma heddu'uutitti hin eegadha; hammeenna, fiqilaa fi cubbuu hin araarama. Te'uu malee, yakkaamessa adoo hin adabin hin lakkisu; ijoollee isaanitii fi ijoollee isaanii haga dhaloota sadii fi afuriititti, cubbuu abbooti'iitiif hin adaba» jedhe.

⁸ Muuseen yennuma san lafatti gad gombifamee sagadee,

⁹ «Ee Gootta'a, ani yoo si biratti fudhatama dhaggadhee jiraadhe, ani akka ati nu woliin ideentu si daadimadha. Kolbaan tun mataa jabeeyyii teetulle, hammeennaa fi cubbuu teenna nuu araaramiitii kolbaa teeti nu tolfadhu» jedhe.

¹⁰ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Kunoo, ani Gondoorroo si woliin godhataara; kolbaa teeti mara duratti biyya lafaa irratti kolbaa lafa irra jirtu mara keessatti baasa tanaan qara te'ee hin beenne hin godha. Kolbaan ati odduu leetu, baasa ani Mootiin Waan Maraa sii godhu hin dhaggiti.

¹¹ Waan ani adha si ajaju muummessi. Ani Amoorota, Kana'aanota, Heetota, Pheriizota, Hiiwotaa fi Yibusoota si duraa hin ari'a.

¹² Akka isaan tiyyoo si'itti hin teene, addee ati dhaqaartu worra lafa san keessa le'u waliin Gondooroo akka hin goone ifi eeggadhu.

¹³ Addee ciinca'aa ta isaanii diiga'a; soodduu isaanii woyyittii butucha'a; utubaa waaqa dharaa ta, «Asheeraa» jedhantu ta isaanii jissa'a.

¹⁴ Ani Mootii Waan Maraa, Waaqa hinaatticha waan te'eef, waaqa dhibii hin waaqonfatin.

¹⁵ «Kolbaa lafa sanii waliin akka wol hin Gondoorre ifi eeggadhu; sababille isaan waaqota ifi gula figanee yennaa ciincaa dhikeessanu si hin waaman; atille ciincaa san hin nyaatta.

¹⁶ Ilmaan teeti durra isaanii yennaa fuusifatte, durri sun waaqota ifi gula figanee, ilmaan teetille akka isaanii waaqota isaanii gula akka hin finne ifi eeggadhu.

¹⁷ «Sibiila baqe irraa waaqota dharaa hin hujatin.

¹⁸ «Jila daabboo ukoo hin qannee jilifadhu; ji'a Abiibii keessa biyya Gibxi'iitii waan baateef, akkuma ani si ajajetti guyyaa torba daabboo ukoo hin qanne nyaadhu.

¹⁹ «Ilmi angafa te'ee dhalate marti kiyya; jibichi yookiin korbeessi qara dhalatelle kiyya.

²⁰ Harree korma qara dhalate buruusoo korbeessa hoole'eetiin wodi; yoo woduu dhadde ammoo morma isaa micciiri; ilmaan teeti keessaa angaficha wodi.

«Nami tokkolle harka duwwaa na dura hin dhikaatin.

²¹ «Guyyaa jaa hujii teeti hujadhu; guyyaa torbeesso'oo ammoo foorfadhu; yennaa qottee facaafattu, yennaa midhaan galfattulle teetu foorfadhu.

²² «Midhaan qamadi'ii ka matooma bilchaatu yennaa galfattu, jila torbaan torbaa jilifadhu; dhuma wogga'aa irralle'etti, jila midhaan galfatiisaa jilifadhu.

²³ Dhiirtiin marti wogga'atti yennaa sad ana Mootii Waan Maraa ka Waan Mara Dande'u, Waaqa Israa'el duratti dhaggamanuu ti.

²⁴ Ani gosa biyya adda addaa si duraa ari'ee lafa teeti si'iif hin badhisa; wogga'atti yennaa sad ana Goottaa Waaqa keeti duratti dhaggamiisaaf yennaa ol baatu, nami tokkolle lafa teeti hin fudhatu.

²⁵ «Daabboo ukoo qaddu dhiiga ciinca'aa ka anaaf dhikaate waliin hin dhikeessin; foon horii Jila Irra Dabaramaatiif qalame irraa haga ganamaa hin tursin.

²⁶ «Waan latti si'iif baache keessaa midhaan matoomaa ka irra caalaa dansa'aa ana Mootii Waan Maraa Waaqa keetiif dhikeessi.

«Buruusoo re'e'ee aanan haadha isi'iitiin hin iffeelin» jedhe.

²⁷ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Ani jechoota kanaan si waliin, kolbaa Israa'elii wolille'een Gondooroo waan gondooradheef, jechoota kana barreeffadhu!» jedhe.

²⁸ Muuseen midhaan adoo hin nyaatin, bisaanille adoo hin unin guyyaa afurtamaa fi halkan afurtama Mootii Waan Maraa waliin achi ture. Inni jechoota Gondooroo'oo, ajajoota kudhan dhakaa baxxicha irratti barreesse.

Muuseen Gaara Siina'aa Irraa Gad Bu'e

²⁹ Muuseen dhakaa baxxicha lama ka seerri irratti barreeffame san harkatti qabatee gaara irraa yennaa gad bu'e, inni Mootii Waan Maraa waliin dubbataa waan tureef, fuulli isaa akka ifiisatti jiru hin beenne.

³⁰ Aaronii fi Israa'elooti marti Muusee yennaa dhaggane, fuulli isaa waan ifiisatti jiruuf gara isaa dhikaatiisa sodaatane.

³¹ Muuseen ammoo isaan waamee, Aaronii fi sooressitooti kolba'aa marti gara isaa deebi'ane; innille isaanitti dubbate.

³² Achiin duuba kolbaan Israa'elii marti Muusee bira dhufanee, inni ajaja Mootiin Waan Maraa gaara Siina'aa gubba'atti isatti dubbate san isaan ajaje.

³³ Muuseen isaanitti dubbatee fixeen duuba fuula ifii hagooggate.

³⁴ Muuseen Mootii Waan Maraa waliin dubbbatiisaaf, fuula isaa dura yennaa dhikaatu, hagoogguu fuula ifii irraa dhooggata; yennaa gad bayu ammoo waan ajajame mara Israa'elootatti hima.

³⁵ Isaan fuulli Muuse'ee akka ifu dhaggane. Achiin duuba inni Mootii Waan Maraa waliin dubbbatiisaaf, yennaa dhaqu mara fuula ifii hin hagoog-gata.

35

Seerata Guyyaa Sanbataa

¹ Muuseen wolde'a gumii Israa'elii mara wolitti qabee, isaaniin, «Wonni akka isin gootanuuf Mootiin Waan Maraa isin ajaje ta asii gad jirtu:

² Guyyaan jaa guyyaa huji'ii ti; guyyaan torbeesso'oo ammoo Sanbata woyyicha ka ana Mootii Waan Maraatiif itti foorfattanu. Nami guyyaa Sanbataa hujii huje marti ijjeefamuu ti.

³ Guyyaa Sanbataa mana keessanitti ibiddalle hin gabbifatina'a» jedhe.

Kennansa Dunkaanii Woyyitti'iif Kennamu

⁴ Muuseen kolbaa Israa'elii maraan «Wonni Mootiin Waan Maraa isin ajaje asii gad jirti:

⁵ Isin waan qaddanu keessaa ana Mootii Waan Maraatiif kennansa dhi-keessa'a! Nami kennansa kenniisaaf fedhu, kennansa worqi'ii, ka meeti'iitii fi sageettu'uu dhikeessuu ti.

⁶ Woyaa bifa cuquliisaa, woyaa bifa dhiille'eetii fi woyaa bifa liilana diima'aa, woyaa quncee talba'aa, woyaa rifeensa re'e'ee,

⁷ gogaa korbeessa hoole'ee ka hallame, gogaa hoolee galaanaa, muka gololchaa,

⁸ zayitii ejersaa ta ifaaf teetu, uddowaa zayitii ejersaa ta dibatanutti naqanu, hixaana foolee dansa'aa,

⁹ dhakaa gatii guddootii fi dooqa adda addaa ka woyaa hayyumma'aa ta qomaatii fi kiisii qomaatitti naqanu dhikeessuu ti.

¹⁰ «Isin keessaa worri ogummaa qabu marti dhufee waan Mootiin Waan Maraa ajaje mara hujuu ti:

¹¹ Dunkaanii Woyyittii, irbuusa isi'ii ka jala aanuu fi ka gubbaa aanu, hookkota isi'ii, danqaraa isi'ii, mikikkiloota isi'ii, utuboota isi'iitii fi shafee utuboota isi'ii,

¹² Saanduqa Gondooro'oo utuboota isi'ii waliin, qadaaddaa addee gumaan araara cubbu'uu irra keyamuu fi gollaa isaa,

¹³ xarapheessaa, danqaraa isaatii fi meya isaa mara waliin, daabboo na dura dhikaattulle,

¹⁴ issa'aafille waan issaa irra keyanu meya isi'ii waliin, issa'aa fi zayitii ejersaa ta ifaaf teetu,

¹⁵ addee ciinca'aa ta hixaanni irratti aarfamu danqaraa isi'ii waliin, zayitii muudaatii fi hixaana uddowu, gollaa karaa balbala seensuma Dunkaanii Woyyitti'ii,

¹⁶ addee ciinca'aa ta kennansa gubamuu, waan akka meemme'ee ka sageettuu irraa hujame ka cilee kiphee daadhaa gad harcaasu ka isi'ii waliin,

danqaraa isi'ii meya isaa mara woliin, qorii itti dhiqatanu ta sageettuu irraa hujante shafee isi'ii woliin;

¹⁷ gollaa badhinna dalleya keessaa utuboota isaatii fi shafee utubootaa woliin, gollaa seensuma gara badhinna sanii;

¹⁸ chikaalota Dunkaani'ii, chikaalota badhinna dalleya keessaa saniitii fi wodaroota isaanii;

¹⁹ woyaa kuulante woyyittii ta Aaroniin hayyichii fi ilmaan isaa addee woyyittii keessa yennaa hayyumma'aan tajaajilanu uffatanu hujanuu ti» jedhe.

Kolbaan Kennansa fidde

²⁰ Achiin duuba kolbaan Israa'elii marti Muusee biraa ka'anee deemane.

²¹ Nami kennansa kenniisaaf fedhee, gadhaan isaa isa kakkaase, dhufee hujii Dunkaanii Woldeenna'aatiif, tajaajila isi'ii maraaf, woyaa hayyootaatiifille kennansa Mootii Waan Maraatiif fidane.

²² Worri fedhii qabu marti dhiirtii fi dubartiille dhufanee faaya worqi'ii ka adda addaa: dirata, qubee gurraa, qubee qubaatii fi seesa adda addaa mara kennane. Isaan martinuu kennansa addaa worqii ifii Mootii Waan Maraatiif fidane.

²³ Worri woyaa bifa cuquliisaa, woyaa dhiillee, liilana diimaa, woyaa rifeensa re'e'ee, woyaa quncee talba'aa dansaa, gogaa korbeessa hoole'ee ka hallame qabu marti fide.

²⁴ Nami meetii yookiin sageettuu qabu marti Mootii Waan Maraatiif kenne; nami muka gololchaa qabulle hujii adda addaatiif ka te'u fide.

²⁵ Dubartooti ogummaa qabanu marti woyaa bifa cuquliisaa, bifa dhiille'ee, liilana diimaa yookiin woyaa quncee talba'aa dansaa, waan harka ifitiin sugane mara fidane.

²⁶ Dubartooti huji'iif fedhii qabaatanee ogummaa qabanu marti rifeensa re'e'ee sugane.

²⁷ Soorressitooti dhakaa gatii guddo'ootii fi dooqa adda addaa ka woyaa hayyumma'aa ta qomaatii fi kiisii qomaatitti naqanu fidane.

²⁸ Akkasuma isaan uddowaa, zayitii ejersaa ta ifaaf teetuu fi ta muudaaf teetu, hixaana foolee dansa'aalle fidane.

²⁹ Kolbaan Israa'elii marti dhiirtii fi dubartooti, hujii Mootiin Waan Maraa akka isaan hujanuuf karaa Muuse'eetiin isaan ajaje maraaf, kennansa fedhii ifii Mootii Waan Maraatiif fidane.

Bazaali'elii Fi Aholiyyaab

³⁰ Achiin duuba Muuseen Israa'elootaan, «Kunoo, Mootiin Waan Maraa gosa Yihuda'aa keessaa akaakoo Huurii, ilma Urii Bazaali'el filateera;

³¹ ogumma'aan, dandeetti'ii fi beekkumsaan, ogummaa hujii harkaa ta adda addaalle akka huju ayyaana ifitiin isa guuteera.

³² Inni akka itti worqii, meeti'ii fi sageettuu hujanu karoora baasa.

³³ Inni dhakaa dhodhoosee qiriixee, mukalle bocee xabbee, hujii harkaa mara hin huja.

³⁴ Mootiin Waan Maraa innii fi ilmi Ahisamaakii Aholiyyaab ka gosa Daanii, worra kaan akka barsiisanu isaan lamaaniifuu dandeettii kenneera.

³⁵ Isaan ogeeyyii hujii harkaa, worra karoora baasu, liilana bifa cuquliisaatiin, ka bifa dhiille'eetiin, ka bifa diima'aa ka quncee talba'aa dansa'aatiin worra kuuluu fi worra woyaa dhowu, ogeeyyii waan maraatiif fi worra karoora baasu te'anee hujii adda addaa akka hujanu inni ogumma'aan isaan guuteera.

36

¹ «Maarre, Bazaali'elii fi Aholiyyaab, nami ogummaa qabu, ka Mootiin Waan Maraa hujii addee woyyitti'ii mara attam akka jalqabu akka beekuuf, ogumma'aa fi dandeettii kenneef marti, akkuma Mootiin Waan Maraa ajajetti worra huji hujuu» jedhe.

Kolbaan Kennansa Bacaaf fidde

² Achiin duuba Muuseen Bazaali'elii fi Aholiyyaab, nama ogummaa qabu ka Mootiin Waan Maraa dandeettii kenneef, worra dhufee hujii hujjiisaaf fedhelle waame.

³ Isaan kennansa Israa'elooti ijaarsa addee Woyyitti'ii jalqabiisaaf fidde mara Muusee harkaa fuudhane. Kolbaan Israa'eliille kennansa fedhii ifii ganama mara Muuse'etti kennite.

⁴ Maarre Worri ogummaa hujii harkaa qabu ka hujii addee Woyyitti'ii hujjiisatti jiru marti hujii lakkisane gara Muuse'ee dhaqanee,

⁵ Muuse'een, «Kolbaan hujii Mootiin Waan Maraa akka hujantu ajajeef ka barbaachisu caalaa kennansa fidiisatti jirti» jedhane.

⁶ Achiin duuba Muuseen, «Nami tokkolle dhiirti yookiin dubartiin kennansa addee Woyyitti'ii dabalane waan tokkolle hin kennin» jedhane addee quttumaa keessa guutumatti akka lassanu ajaje. Maarre kolbaan kennansa akka hin finne dhooggane.

⁷ Sababille kennansi qara fidaneeyyuu hujii hujantu mara geyee irraa hin hafa.

Ijaarsa Dunkaanii Woyyitti'ii

⁸ Namoota hujii Dunkaanii Woyyitti'ii san hujanu keessaa worri ogummaa qabu marti gollaa qoola kudhan: ka liilana quncee talba'aa dansaa, ka bifa cuquliisaa, ka bifa dhiille'ee fi diimaa irraa wolitti fowamee dhowameen, ta fakkiin dada ol-gubba'aa ta koola qaddu, nama hujii harkaa beekuun, irratti hodhanteen Dunkaanii Woyyittii hujane.

⁹ Gollaan sun tokko tokkoon isaa dheerinni ciqilee diddamii saddeeti badhinni ciqilee afur, marti isaaniituu wol qixa.

¹⁰ Isaan qoola golla'aa san shanan wolitti hodhane, shanan hafane kaanille akkasuma tolchane.

¹¹ Achiin duuba isaan irga qoola golla'aa ka wolitti hodhamee sanitti qubeelee bifa cuquliisaa itti naqe; qoola golla'aa ka wolitti hodhame ka gama kaanii irralle'etti akkasuma tolchane.

¹² Isaan ammalle irga qoola golla'aa ka wolitti hodhamane ka qaraatitti qubeelee shantama, ka lammeesso'oo irralle'etti qubeelee shantama, ta moggaa gama lamaaniituu fuullee wolitti galchane itti naqane.

¹³ Achiin duuba isaan Dunkaaniin Woyyittiin takkattii akka teetu, qoola golla'aa ta wolitti hodhamane san wolitti qassiisiisaaf hookkoo worqi'ii shantama hujane.

¹⁴ Isaan Dunkaanii Woyyittii san akka gollanuuf, gollaa rifeensa re'e'ee irraa hujame kudhanii tokko hujane.

¹⁵ Gollaan kudhanii tokko sun tokko tokkoon isaaniituu dheerinni isaanii ciqilee soddama, badhinni isaanii ciqilee afur te'anee marti isaaniituu wol qixa.

¹⁶ Isaan gollaa shanan wolitti qassiisane hodhane, jaan hafane kaanille gara kaaniin wolitti qassiisane hodhane.

¹⁷ Achiin duuba isaan irga gollaa wolitti hodhamane ka qaraatitti qubeelee shantama, ka lammeesso'oo irralle'etti qubeelee shantama itti hodhane.

¹⁸ Isaan gollaa gama lamaanii san wolitti qassiisanee Dunkaanii Woyyittii takkattii tolchiisaaf hookkoo sageettu'uu shantama hujane.

¹⁹ Achiin duuba isaan gogaa korbeessa hoole'ee ka hallame irraa Dunkaanii Woyyittii saniif irbuusa hujane; ka dhibiille gogaa hoolee galaana irraa hujanee irra buusane.

²⁰ Isaan mikikkiloota Dunkaanii Woyyittii ittiin ol dhaabbachiisanu muka gololchaa irraa hujane.

²¹ Dheerinni mikikkiloota sanii ciqilee kudhan, badhinni isaanii ciqilee tokkoo fi wodhakka'a.

²² Mikikkilooti Dunkaanii Woyyittii sun akka wol keessa seenanu qaccee irratti gaafa lama ka cinaa wolii jiru hujane; isaan akka kanaan mikikkiloota Dunkaanii Woyyittii mara hujane.

²³ Isaan Dunkaanii Woyyittii cinaa gara kibbaatiif mikikkiloota diddama hujane.

²⁴ Mikikkiloota diddama saniifille shafee meetii irraa hujante afurtama hujane; gaafoti lama ka mikikkila tokkoo akka keessa seenanuuf shafee lama lama hujane.

²⁵ Isaan Dunkaanii Woyyittii san cinaa gara kaabaatiif mikikkiloota diddama hujane.

²⁶ Mikikkiloota diddama saniifille, shafee meetii irraa hujante afurtama hujanee, mikikkila tokko tokko jala shafee lama lama keyane.

²⁷ Isaan Dunkaanii Woyyittii cinaa gara aduun seentuutiif mikikkila jaa hujane.

²⁸ Roga Dunkaanii Woyyittii ka irga irgaatiifille mikikkila lama lama hujane.

²⁹ Roga lamaan kana irratti mikikkilooti kun jalaa haga gubba'aatitti lama lama te'anee, qubee takkattii keessa seenan. Gara lamaanii nuu akkasuma te'an.

³⁰ Maarre mikikkiloota saddeetii fi shafee meetii irraa hujante kudhanii jaatti achi jiraayyu; mikikkila tokko tokkoofuu shafee lama lamatti itti keyame.

³¹ Isaan ammalle muka gololchaa irraa danqaraa shanan mikikkiloota cinaa gara tokkootiif,

³² shanan mikikkiloota cinaa gara kaaniitiif, shanan hafane mikikkiloota gara seensa adu'uu jiranuuf hujane.

³³ Isaan danqaraa wodhakka'aa, ka mikikkiloota wodhakkaa cinaa kaan irraa haga cinaa gara kaaniititti fulla'u hujane.

³⁴ Isaan mikikkiloota san worqii itti gonfanee, danqarooti sun akka keessa seenanu qubeelee worqi'ii hujane; danqaroota sanille worqii itti gonfane.

³⁵ Isaan liilana quncee talba'aa dansaa, ka bifa cuquliisaa, ka bifa dhiille'ee fi diimaa irraa wolitti fowamee dhowameen gollaa nami hujii harkaa beeku, fakkii dada ol-gubba'aa ta koola qadduu irratti hodhe hujane.

³⁶ Isaan gollaa saniif utuboota muka gololchaa afur hujanee worqii itti gonfane; utuboota saniif hookkoo worqi'ii afur itti hujanee, meetii baqisi-ifame irralle'ee shafee afur itti hujane.

³⁷ Isaan seensuma Dunkaanii Woyyittii ittiif, liilana quncee talba'aa dansaa, ka bifa cuquliisaa, ka bifa dhiille'ee fi diimaa irraa fowamee dhowameen nama hujii harkaa beekuun gollaa hujane.

³⁸ Isaan gollaa saniif utubaa hookkoo qabanu shan hujane; guutuu utuboota saniitii fi qubeelee isaanii worqii itti gonfane; utuboota saniifille shafee shan sageettuu irraa hujane.

37

Saanduqa Gondooro'oo

¹ Bazaali'el Saanduqa Gondooro'oo ta dheerinni isi'ii ciqilee lamaa fi wodhakka'aa, badhinna isi'ii ciqilee tokkoo fi wodhakka'aa, hojjaan isi'ii ciqilee tokkoo fi wodhakka'aa muka gololchaa irraa huje.

² Inni keessa isi'iitii fi duuba isi'ii worqii qulluu itti gonfe; roga isi'ii irra naannessee xiyyoo worqii itti huje.

³ Inni qubee worqi'ii afur hujee, lamaan gara tokkoon, lamaan gara kaaniin, miila isi'ii afurittuu qassiise.

⁴ Achiin duuba inni muka gololchaa irraa danqaraa bocee worqii itti gonfe.

⁵ Danqaraa isii ittiin ba'atanu, qubeelee Saanduqa Gondooro'oo ta gama lamaanii jirtu san keessa galche.

⁶ Qadaaddaa addee gumaan araara cubbu'uu irra keyamu ta dheerinni isi'ii ciqilee lamaa fi wodhakka'aa, badhinna isi'ii ciqilee tokkoo fi wodhakka'aa worqii irraa huje.

⁷ Achiin duuba inni dada ol-gubba'aa ta koola qaddu lama worqii tumante irraa qaccee lama ta qadaaddaa Saanduqa Gondooro'oo irratti huje.

⁸ Dada ol-gubba'aa ta koola qaddu san tokko qaccee gara tokkootitti, dada ol-gubba'aa ta koola qaddu ta lammeesso'oo qaccee garakaaniititti keye; dada ol-gubba'aa ta koola qaddu san qaccee qadaaddaa Saanduqa Gondooro'oo lamaanittuu wolitti qassiisee tokko tolche.

⁹ Dadi ol-gubba'aa ta koola qaddu sun koola ifii ol badhifatane qadaaddaa san irra gonboobaneeraniyyu; fuula ifille wolitti galanee, qadaaddaa Saanduqa Gondooro'oo san ilaalaniyyu.

Xarapheessaa Daabboo Waaqaaf Dhikaattu Irra Keyanu

¹⁰ Inni Xarapheessaa dheerinni isaa ciqilee lamaa, badhinna isaa ciqilee tokkoo, hojjaan isaa ciqilee tokkoo fi wodhakka'aa muka gololchaa irraa huje.

¹¹ Achiin duuba inni Worqii qulluu itti gonfe; roga isaa irralle naannessee worqii itti gonfe.

¹² Inni xiyyoo haga badhinna ganaa harkaa geettu irga isaa irratti naannessee worqii itti gonfe.

¹³ Xarapheessaa saniif qubee worqi'ii afur hujee, addee miilli isaa afur jirutti roga isaa afur irratti qassiise.

¹⁴ Qubeeleen afur sun danqaraa xarapheessaa ittiin ba'atanu akka qaddu, xiyyoo san bira keye.

¹⁵ Danqaraa muka gololchaa irraa huje; xarapheessaa san ittiin ba'atiisaaf worqii itti gonfe.

¹⁶ Waan daadhii woyni'ii ittiin dhikeessanu gabataa, qorii, kobolaa fi muduunuu worqii qullittii irraa huje.

Waan Issaa Irra Keyanu

¹⁷ Inni Waan issaa irra keyanu worqii qullittii irraa huje. Miila isi'ii, ulee isi'ii, muduunuu daraaraa fakkaattu, guntuta daraara'aatii fi daraaraa seesaa waan issaa irra keyanu san waliin wolitti qassiisee tokko tolchee huje.

¹⁸ Waan ifa irra keyannu kana irratti dameelee jaa, gara tokkoon sad, gara kaaniin sad huje.

¹⁹ Dameelee waan issaa irra keyanuu jaanuu irratti, muduunuun daraaraa muka «Almond» jedhamuu fakkaattu ta seesa guntuta daraara'aatii fi seesa daraara'aa qaddu sad jiraniyyu.

²⁰ Waan issaa irra keyanu san irra, muduunuun daraaraa muka «Almond» jedhamuu fakkaattu afur ta seesa guntuta daraara'aatii fi seesa daraara'aa qaddu jirtiyyu.

²¹ Dameelee waan issaa irra keyanuu lamaan qaraa jala guntuti daraara'aa tokko, dameelee lamaan ka lammeesso'oo jala guntuti daraara'aa ka lammeesso'oo, dameelee lamaan sadeesso'oo jala guntuti daraara'aa ka sadeesso'oo jiraniyyu.

²² Guntuti daraara'aatii fi dameeleen sun martinuu waan issaa irra keyanu san woliin wolitti qassiifamanee tokko te'anee, worqii qullittii irraa huja-manee.

²³ Innii ifa torba waan ifa irra keyanu, qarapha'aa fi waan daadhaa itti harcaasanu worqii qulluu irraa huje.

²⁴ Innii waan issaa irra keyanuu fi meya isi'ii mara worqii qullittii kiiloogi-raama soddonii shanii irraa huje.

Addee Ciinca'aa Ta Hixaana Itti ciincessanu

²⁵ Innii addee ciinca'aa ta hixaana itti ciincessanu muka gololchaatiin ijaare. Dheerinni isi'ii ciqilee tokko, badhinni isi'ii ciqilee tokko, hojjaan isi'ii ciqilee lama te'ee, rogi arfanuu wol qixa. Roga arfanittuu gaafota itti baase

²⁶ Innii gubbaa isi'iitii fi roga isi'ii mara, gaafota isi'iille worqii qulluu itti gonfe. Roga isi'ii irra naannessee xiyyoo worqi'ii itti huje.

²⁷ Innii danqaraa keessa loosanee addee ciinca'aa ittiin ba'atanu, qubee worqi'ii lama huje, xiyyoo jalatti gama lamaanittuu qassiise.

²⁸ Innii muka gololchaa irraa danqaraa huje worqii itti gonfe.

²⁹ Innii akka worri fiqiree dansaa qopheessu hujuu, zayitii woyyittii ta muudaatii fi hixaana qulluu ka foolee dansa'aalle huje.

38

Addee Ciinca'aa Ta Kennansa Gubamuu

¹ Bazaali'el addee ciinca'aa ta kennansa gubamuu muka gololchaatiin ijaare. Dheerinni isi'ii ciqilee shan, badhinni isi'iille ciqilee shan, hojjaan isi'ii ciqilee sad.

² Innii gaafotii fi addeen ciinca'aa tokko akka te'anuu roga isi'ii arfanuu irratti gaafota itti baasee, sageettuu itti gonfe.

³ Meya addee ciinca'aa san mara okkotee daadhaa itti haranu, waan ibidda irratti bobeessanu, qorii dhiiga fiffixanu qabattu, filaa foonille sageettuu irraa huje.

⁴ Innii waan akka meemme'ee sageettuu irraa huje, haga hidha addee ciinca'aa ol akka dheerattu, xiyyoo isi'ii jala keye.

⁵ Innii roga arfan waan akka meemme'ee san irratti danqaraa ittiin ba'atanu akka keessa galchanu qubeelee afur itti huje.

⁶ Innii addee ciinca'aa san akka ittiin ba'atanu, danqaraa muka gololchaa huje sageettuu itti gonfe.

⁷ Danqaraa san addee ciinca'aa akka ittiin ba'atanu, qubeelee addee ciinca'aa cinaa gama lamaaniitiin jirtu san keessa galche. Innii addee ciinca'aa san boollessee falaxaa irraa huje.

⁸ Innii gabataa itti dhiqatanuu fi shafee isaa ta sageettu'uu, daaw'itii sageettu'uu ta dubartoota seensuma Dunkaanii Woldeenna'aa tajaajilanuu irraa huje.

Badhinna Dalleya Keessaa

⁹ Inni itti aansee badhinna Dunkaanii Woldeenna'aatitti dalleya ijaare. Badhinni dalleyaa keessaa sun karaa kibbaatiin ciqilee dhibba; gollaa quncee talba'aa dansaa irraa wolitti fowamee hujame qabaatee,

¹⁰ utuboota shafee sageettu'uu qabanu diddama ka hookko'oo fi qubeelee meetii irraa hujamane ifi irraa qabanu qabaayyu.

¹¹ Gara kaabaatile'een akkuma kana ciqilee dhibba dheeratee, utuboota shafee sageettu'uu qabanu diddama ka hookko'oo fi qubeelee meetii irraa hujamane ifi irraa qabanu qabaayyu.

¹² Badhinni dalleya keessaa sun gara seensa adu'uutiin, ciqilee shantama badhatee, golla'aa fi utuboota kudhan shafee kudhan qabanu, ka hookko'oo fi qubeelee meetii irraa hujamane ifi irraa qabanu qabaayyu.

¹³ Dhuma gara ila boru'uu, karaa aduun baatulle'een, ciqilee shantama badhata.

¹⁴ Dheerinni golla'aa seensuma irraa gara tokkoon ciqilee kudhanii shan te'ee, utuboota sad ka shafee sad qabanu qabaayyu.

¹⁵ Akkasuma seensuma irraa gara kaaniin dheerinni golla'aa ciqilee kudhanii shan te'ee, utuboota sad ka shafee sad qabanu qaba.

¹⁶ Gollaan cinaa badhinna dalleya keessaa jiru marti quncee talba'aa dansaa wolitti fooyame irraa hujame.

¹⁷ Shafeen utubootaa ta sageettuu irraa hujante yoo teetu, hookko'oo fi qubeeleen utuboota irra jiranu meetii irraa hujamane; guutuun utubootaalle meetiin itti gonfanteerti. Utubooti badhinna dalleya keessaa marti qubeelee qaban.

¹⁸ Gollaan seensuma badhinna dalleya keessaa liilana quncee talba'aa dansaa ka bifa cuquliisaa, ka bifa dhiille'ee fi diimaa irraa nama hujii harkaa beekuun dhowame. Dheerinni isaa ciqilee diddama; akkuma gollaa badhinna dalleya keessaa hojjaan isaa ciqilee shan.

¹⁹ Utubooti isaa afurii fi shafeen isaa arfanuu sageettuu irraa hujamane; hookkoti utubootaati fi qubeeleen utubootaa meetii irraa hujamane. Guutuun utubootaalle meetiin itti gonfanteerti.

²⁰ Chikaaloti Dunkaanii Woyyitti'iitii fi ka badhinna dalleya keessaa marti sageettuu irraa hujamane.

Meya Dunkaaniin Woyyittiin Ittiin Ijaarante

²¹ Mey Dunkaanii Woyyitti'ii, ka Itaamaariin Lewwichi ilmi Aaronii hayyichaa, ajaja Muuse'eetiin, tarre'etti barreessee qopheesse asii gad jira:

²² Akaakoon Huurii ilmi Urii Bazaali'el, gosa Yihuda'aa keessaa waan Mootiin Waan Maraa Muusee ajaje mara hujee.

²³ Gosa Daanii keessaa ilmi Ahisamaakii Aholiyyaab, ka hujii harkaa beeku, ka karoora baasu fi ka liilana quncee talba'aa dansaa bifa cuquliisaatiin, ka bifa dhiille'ee fi diima'aan woy seesee hodhu isa waliin jiraayyu.

²⁴ Dunkaanii Woyyittii ijaariisaaf worqiin kennansa tachoofamuuf kennante sun wolumatti akka madaallii Dunkaanii Woyyitti'iititti kiiloogiraama kuma tokko.

²⁵ Meetiin kolbaa laakkowante irraa wolitti qabante, akka madaallii Dunkaanii Woyyitti'iititti gara kiiloogiraama kuma sadii fi dhibba afurii fi soddomaa ti.

²⁶ Namooti worra qara laakkowametti dabalamane ka woggaan isaanii diddamaa fi diddamaa olii laakkossi isaanii kuma dhibba jaa fi kuma sadii fi dhibba shanii fi shantama. Isaan kun mataa mataa isaaniititti akka

madaallii Dunkaanii Woyyitti'ititti meetii gara giraama kudhanii tokkoo* kennane.

²⁷ Meetiin kiiloogiraam kum sadii fi dhibbi afur baqisiifantee shafee Dunkaanii Woyyitti'itii fi shafee golla'aa dhibba hujante. Shafeen tokko tokkoo meetii kiiloogiraama soddonii fi afuriin hujante.

²⁸ Meetii kiiloo giraama soddoma hatteen Bazaali'el utuba'aa fi hookkota utubootaa hujee guutuu utubootaalle itti gonfe.

²⁹ Sageettuun kennansa tachoofamuuf kennante kiiloogiraama kuma lamaa fi dhibba afurii fi diddamii shan.

³⁰ Isuma tanaan shafee seensuma Dunkaanii Woldeenna'aa, addee ciinca'aatii fi waan akka meemme'ee ta addee ciinca'aa sanii, meya isi'ii maralle,

³¹ Shafee dalleya badhinna Dunkaanii Woldeenna'aa, shafee karra badhinna Dunkaanii Woldeenna'aa, chikaalota Dunkaanii Woldeenna'aa ka badhinna Dunkaanii Woldeenna'aatitti naanneffameeru mara hujee.

39

Woyaa Hayyootaa

¹ Isaan woyaa kuulante ta addee woyyittii keessa yennaa tajaajilanu uffatanu liilana bifa cuquliisaa, ka bifa dhiille'eetii fi diima'aatiin hujane. Isaan akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajaje, woyaa woyyittiille Aaroniif hujane.

² Isaan woyaa hayyumma'aa ta qomaa worqi'iin, liilana bifa cuquliisaatiin, ka bifa dhiille'eetiin, ka bifa diima'aa ka quncee talba'aa dansa'aa ka wolitti fowameen hujane.

³ Isaan worqii worri hujii harkaa beeku baqisiisanee hephelleessanee hujane akka liilanaa kukkutanee liilana bifa cuquliisaa, ka bifa dhiille'eetii fi diima'aatiin wolitti fowane.

⁴ Gurmuu lamaan irra hiituu lama ta qaccee duraa fi duubaa lama wolitti hiitu woyaa hayyumma'aa ta qomaa saniif hujane.

⁵ Hiituun worra hujii harkaa beekuun hujante sun akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajaje, akkuma woyaa hayyumma'aa ta qomaa san worqi'iin, liilana bifa cuquliisaatiin, ka bifa dhiille'eetiin, ka bifa diima'aa ka quncee talba'aa dansa'aan wolitti fowantee hujantee, woyaa hayyumma'aa ta qomaa waliin tokko teetee wolitti qassiifante.

⁶ Isaan dhakaa gatii guddo'oo lama fuudhanee, maqaa ijoollee Yaaqoobii kudhanii lamaa akka chaappa'aa irratti qiriixane.

⁷ Achiin duuba isaan akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajaje, dhakaa gatii guddo'oo san Yaadannoo ilmaan Yaaqoobiitiif, hiituu woyaa hayyumma'aa ta qomaa ta gurmuu Aaronii irratti qassiisane.

Kiisii qomaa

⁸ Isaan kiisii qomaa ta akka nami hujii harkaa beeku hujuu hujane; akkuma woyaa hayyumma'aa ta qomaa worqi'iin, liilana bifa cuquliisaatiin, ka bifa dhiille'eetiin, ka bifa diima'aa ka quncee talba'aa dansa'aa ka wolitti fowameen hujane.

⁹ Kiisiin sun dheerinni isi'ii taakkuu tokko, badhinni isi'iille taakkuu tokko teetee, dachaafantee rogi isi'ii arfanuu wolqixa.

¹⁰ Achiin duuba isaan isii irratti dhakaa gatii guddo'oo tarree afuriin itti maxxansane; tarree qaraatitti dhakaan gatii guddo'oo saardiyon, tophaaziyon fi simaaragidos,

* **38:26** Gara giraama kudhanii tokkoo: Afaan Ibrootaatiin sheeqelii wodhakkaa jedha.

- 11 tarree lammeesso'ootitti kaarbunkil, safiiosii fi Yaasphis,
 12 tarree sadeesso'ootitti hiiyaakinxos, kaalqedon, ametiisxos,
 13 tarree arfeesso'ootitti kirisoliixos, sardonikis fi beerilos seesa xiyyoo worqi'ii ta daraaraa fakkaattuun itti maxxansane.
- 14 Gosa Israa'elii kudhanii lamaaf qaabbii akka te'u, dhakoota gatii guddo'oo kudhanii lamaan san irratti, maqaan ilmaan Yaaqoobii kudhanii lamaa ka tokko tokkootuu akka chaappa'aa irratti qiriixameera.
- 15 Isaan kiisii qomaa saniif seesa haachaba worqii qullu'uu, ka akka wodaro'oo fowame hujane.
- 16 Xiyyoo seesa worqi'ii ta daraaraa fakkaattuu fi qubeelee worqi'ii lama hujanee roga kiisii qomaa san lamaanitti qassiisane.
- 17 Seesa haachaba worqii qullu'uu lamaan san, qubeelee lama ta roga kiisii qomaa irra jirtu saniin wolitti qassiisane.
- 18 Qaccee seesa haachabootaa san lamaan, hiituu woyaa hayyumma'aa ta qomaa ta gara duraatiin jirtu ta gurmoo irra qaxxaamurtu keessa galchane, xiyyoo seesa worqi'ii lama ta daraaraa fakkaatu saniin wolitti qassiisane.
- 19 Qubeelee worqi'ii lama hujanee, roga lama ka kiisii qomaa ka dhibi'iititti, qaccee kiisii qomaa ta gara keessaa ta woyaa hayyumma'aatitti aantee jirtutti qassiisane.
- 20 Achiin duuba isaan qubeelee worqi'ii ta dhibii lamaan hujanee, gara duraatiin, hiituu woyaa hayyumma'aa ta qomaa ta gurmoo irra qaxxaamurtu gara jalaatiin addee hiituun woyaa hayyumma'aa ta qomaa wolitti hodhanteertuun gubba'atti qassiisane.
- 21 Akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajaje, qubeelee kiisii qomaa irra jirtu, kiisiin qomaa woyaa hayyumma'aa ta qomaatiin akka wol gad hin lakkinne, hiitu'uun wolitti qassiisiisaan, liilana bifa cuquliisaatiin qubeelee woyaa hayyumma'aa ta qomaatiin wolitti hidhane.
- 22 Qoloo woyaa hayyumma'aa ta qomaa waliin uffatanu guutumatti liilana bifa cuquliisaatiin hujane.
- 23 Gara gubba'aa wodhakkaa isi'iitiin qowa mataan seenu qaddiiyyu; qowi sun akka hin tarsaane goodameera.
- 24 Handaara qoloo sanii ka liilana bifa cuquliisaatiin, ka bifa dhiille'eetii fi diima'aa ka quncee talba'aa dansa'aatiin wolitti fowamee dhowame san jalatti fakkii midhaan muka rumaanii itti hujane.
- 25 Isaan worqii qulluu irraa bilbilalle hujanee, handaara sanitti naannes-sanee, odduu odduu fakkii midhaan muka rumaanii sanitti hidhane.
- 26 Bilbilli fi fakkiin midhaan muka rumaanii sun irga handaara qolo'oo san irratti tarreeffamanee wol geyan; qoloo tana akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajajetti, hayyichi yennaa tajaajila hayyumma'aa uffata.
- 27 Isaan ammalle Aaronii fi ilmaan isaatiif quncee talba'aa dansaa irraa qoloo haga miilaa dheerattu,
- 28 marata mata'aa, gullee mata'aatii fi mutaandii woyaa jalaan hidhatanu ta hidhaa kaatee haga gudeedaa geettu ta fowantee dhowante isaaniif hujane.
- 29 Hiituu liilana quncee talba'aa dansaa irraa wolitti fowantee dhowante ta bifa cuquliisaa, ta bifa dhiille'eetii fi diimaa irraa akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajajetti hujane.
- 30 Isaan kallacha woyyicha, worqii qulqullu'uu hujanee, akka barreeffama chaappaa irratti barreeffamee, «Mootii Waan Maraatiif ka woyyoome» jedhane irratti qiriixane.

³¹ Achiin duuba isaan akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajajetti, liilana bifa cuquliisaatiin hidhane, marata mata'aatitti qassiisane.

Hujiin Dunkaanii Woyyitti'ii Hobbaate

³² Maarre hujiin Dunkaanii Woyyittii, Dunkaanii Woldeenna'aa sun hobbaate. Israa'elooti waan mara akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajajetti hujane.

³³ Achiin duuba isaan Dunkaanii Woyyittii Woldeenna'aa gara Muuse'ee fidane: Dunkaanii Woyyitti'ii fi meya isi'ii mara, hookkoo isi'ii, mikikkiloota isi'ii, dangaraa isi'ii, utuboota isi'ii, shafeelee isi'ii,

³⁴ irbuusa gogaa korbeessa hoole'ee ka hallame, irbuusa gogaa hoolee galaanaa, gollaa;

³⁵ Saanduqa Gondooro'oo utuboota isi'ii waliin, qadaaddaa addee gumaan araara cubbu'uu irra keyamulle;

³⁶ xarapheessaa meya isaa mara waliin, daabboo Waaqa dura dhikaatulle;

³⁷ waan issaa irra keyanu ka worqii qulluu irraa hujame ifa isaa ka tarreeffamee fi meya isaa mara waliin, zayitii ejersaa ta ifaaf teetu;

³⁸ addee ciinca'aa ta worqii irraa hujante; zayitii muudaa, hixaana foolee dansa'aatii fi gollaa seensuma Dunkaanii Woyyitti'ii;

³⁹ addee ciinca'aa ta sageettuu irraa hujante waan akka meemme'ee ta sageettuu irraa hujante ta isi'ii waliin, dangaraa isi'itii fi meya isi'ii mara waliin; qorii itti dhiqatanu shafee isi'ii waliin;

⁴⁰ gollaa badhinna dalleya Dunkaanii Woldeenna'aa keessaa utuboota isaatii fi shafeelee utuboota isaa, gollaa seensuma badhinna dalleya Dunkaanii Woldeenna'aa keessaa; wodarootaa fi chikaalota dunkaanii ittiin dhaabanu, chikaalota badhinna dalleya Dunkaanii Woldeenna'aa keessaa, meya Dunkaanii Woyyitti'ii mara;

⁴¹ woyaa kuulante woyyittii ta Aaroniin hayyichii fi ilmaan isaa addee woyyittii keessa yennaa hayyumma'aan tajaajilanu uffatanu fidane.

⁴² Israa'elooti hujii mara akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajajetti hujane.

⁴³ Muuseen hujii mara akkuma Mootiin Waan Maraa ajajetti hujuu isaanii dhagge. Achiin duuba inni isaan eebbise.

40

Dhaabamiisa Dunkaanii Woyyitti'ii

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

² «Dunkaanii Woyyittii, Dunkaanii Woldeenna'aa san ji'a tokkeesso'oo guyyaa qaraa dhaabi.

³ Saanduqa Gondooro'oo ka dhakaan baxxichi ajaji kudhan irratti barreeffameeru keessa jiru san isii keessa keyiitii, golla'aan golli.

⁴ Xarapheessaa Dunkaanii Woyyittii keessa galchiitii meya isaa irra naqi; achiin duuba waan issaa irra keyanulle Dunkaanii Woyyittii keessa galchiitii issaa isi'ii irra naqi.

⁵ Addee ciinca'aa ta hixaanni irratti aarfamu ta worqii irraa hujante san Saanduqa Gondooro'oo ka dhakaan baxxichi ajaji irratti barreeffameeru keessa jiru san dura keyiitii, seensuma Dunkaanii Woyyitti'iille'etti gollaa keyi.

⁶ «Addee ciinca'aa ta kennansa gubamuu seensuma Dunkaanii Woyyitti'ii, Dunkaanii Woldeenna'aa san dura keyi;

⁷ qorii itti dhiqatanu Dunkaanii Woldeenna'aatii fi addee ciinca'aa wodhakkaa keyiitii, bisaan itti naqi.

⁸ Badhinna dalleya keessaa ka Dunkaanii Woyyitti'ii keessaatitti naannes-siitii dalleya itti ijaari; seensuma badhinna dalleya Dunkaanii Woyyitti'ii keessaa sanitti gollaa keyi.

⁹ «Zayitii muudaa fuudhiitii Dunkaanii Woyyitti'ii fi waan isii keessa jiru mara muudi; isi'ii fi waan isii keessa jiru mara woyyoonsi; isiille woyyuu hin teeti.

¹⁰ Achiin duuba addee ciinca'aa ta kennansa gubamuu fi meya isi'ii mara muudi; addee ciinca'aa san woyyoonsi; isiille woyyuu hin teeti.

¹¹ Qorii itti dhiqatanuu fi shafee isi'iille muudiitii woyyoonsi.

¹² «Aaronii fi ilmaan isaa gara seensuma Dunkaanii Woldeenna'aa san fidiitii bisaaniin dhiqi.

¹³ Achiin duuba woyaa woyyittii Aaronitti uffisi; isa muudiitii akka inni hayyuu te'ee na tajaajilu woyyoonsi.

¹⁴ Ilmaan isaa fidiitii qoloo haga miilaa dheerattu itti uffisi.

¹⁵ Isaan hayyoota te'anee akka na tajaajilanu, akkuma abbaa isaanii muudde isaanille muudi; muudam isaanii kun dhaloota dhufu mara keessatti hayyummaa bara baraa te'ee hin jiraata» jedhe.

¹⁶ Muuseen waan mara akkuma Mootiin Waan Maraa isa ajajetti huje.

¹⁷ Maarre Dunkaaniin Woyyittiin woggaa lammeesso'oo keessaa ji'a tok-keesso'oo guyyaa qaraa dhaabbatte.

¹⁸ Muuseen Dunkaanii Woyyittii san yennaa dhaabe, shafeelee isi'ii addee addee isi'iititti keyee, mikikkiloota isi'ii irratti dhaabe; danqaroota isi'ii keessa galchee, utuboota isi'iille dhaabe.

¹⁹ Achiin duuba inni akkuma Mootiin Waan Maraa isa ajajetti gollaa Dunkaanii Woyyittii irra diriirse.

²⁰ Inni dhakaa baxxicha lamaan ajaji irratti barreeffameeru san fuudhee Saanduqa Gondooro'oo keessa keye; danqaroota qubeelee Saanduqa Gondooro'oo keessa galchee, qadaaddaa addee gumaan araara cubbu'uu irra keyamu irra keye.

²¹ Achiin duuba akkuma Mootiin Waan Maraa isa ajajetti Saanduqa Gondooro'oo Dunkaanii Woyyittii keessa galchee, gollaa ittiin gollu fannisee, Saanduqa Gondooro'oo ta dhakaan baxxichi lama ka ajaji kudhan irratti barreeffameeru keessa jiru san golle.

²² Muuseen xarapheessaa san Dunkaanii Woyyittii san gara kaabaatiin, golla'aan ala, Dunkaanii Woldeenna'aa san keessa keye.

²³ Akkuma Mootiin Waan Maraa isa ajajetti fuula Mootii Waan Maraa duratti daabboo irra keye.

²⁴ Inni waan issaa irra keyanu Dunkaanii Woldeenna'aa keessa fuullee xarapheessa'aa Dunkaanii Woyyittii gara kibbaatiin keyee,

²⁵ akkuma Mootiin Waan Maraa isa ajajetti issaa fuula Mootii Waan Maraa dura keye.

²⁶ Muuseen addee ciinca'aa ta worqii irraa hujante san Dunkaanii Wold-eenna'aa keessa gollaa fuula dura keyee,

²⁷ akkuma Mootiin Waan Maraa isa ajajetti hixaana foolee dansa'aa irratti aarse.

²⁸ Achiin duuba inni seensuma Dunkaanii Woyyitti'iititti gollaa hidhe.

²⁹ Inni addee ciinca'aa ta kennansa gubamuu seensuma Dunkaanii Woyyitti'ii, Dunkaanii Woldeenna'aa san biratti qopheessee, akkuma Mootiin Waan Maraa isa ajajetti kennansa gubamuu fi kennansa midhaanii achi irratti dhikeesse.

³⁰ Inni qorii itti dhiqatanu wodhakkaa Dunkaanii Woldeenna'aatii fi addee ciinca'aa keyee, akka dhiqatanuuf bisaan itti naqee,

³¹ Muuseen, Aaronii fi ilmaan isaa harka fi miila ifii itti dhigatane.

³² Akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajajetti, isaan yennaa Dunkaanii Woldeenna'aa seenanu yookiin yennaa addee ciinca'aatitti dhikaatanu mara hin dhigatan.

³³ Achiin duuba Muuseen badhinna dalleya keessaa ka Dunkaanii Woyyitti'itii fi addee ciinca'aatitti naannessee dalleya ijaaree, seensuma badhinna dalleya keessaa ka Dunkaanii Woyyitti'ii keessaatitti gollaa hidhe; maarre akka kanaan Muuseen hujii fixe.

Ulfinna Mootii Waan Maraa

³⁴ Achiin duuba duumensi Dunkaanii Woldeenna'aa gollee, ulfinni Mootii Waan Maraalle Dunkaanii Woyyittii san guute.

³⁵ Duumensi Dunkaanii Woldeenna'aa irratti waan bu'eef, ulfinni Mootii Waan Maraalle Dunkaanii Woyyittii waan guuteef, Muuseen gara Dunkaanii Woldeenna'aa seeniisaaf hin dandeenne.

³⁶ Yennaa duumensi Dunkaanii Woyyittii irraa ka'e mara, Israa'elooti ka'anee ideeman;

³⁷ duumensi Dunkaanii Woyyittii irraa yoo ka'uu dhabe ammoo, haga guyyaa duumensi irraa ka'utti achii ka'anee hin ideemanu.

³⁸ Maarre Israa'elooti yennaa ideemanu mara, guyyaa guyyaa duumensi Mootii Waan Maraa Dunkaanii Woyyittii irra, halkan halkan ibiddi duumensa keessa jiruun dhaggan.

Kitaaba Seera Lewwootaa Seensa

Kitaab Seera Lewwootaa seera ittiin bulmaata waaqonfanna'aatii fi aadaa dhugeeffannaa Israa'elii durii, akkasuma seera ittiin bulmaataa ka hayyoota seera kana hujii irra oolchiisaaf itti gaafatamummaa qabanuulle ifi keessaa qaba.

Yaadi guddaan kitaaba kanaa marroo woyyummaa Waaqaa ti; kolbaan Waaqaalle Waaqa woyyicha Israa'elii kana woliin tokkummaa attamii akka qabaatuu qabanuu fi attam akka isa waaqonfatuu qabanulle hin dubbata.

Kitaaba kana keessatti ajaji guddoo beekkamaa te'e, ka Yesuus, «Ajaja guddicha lammeesso'oo» jedhee moggaase, «Nama maraa akka ifi jaalatu jaaladhu» ka jedhu. (19:18)

Haadhoo Dubbi'ii

Seera kennansaatii fi ciinca'aa 1:1–7:38

Hayyoomiisa Aaroniitii fi ilmaan isaa 8:1–10:20

Seera marroo aadaa dhugeeffanna'aatiin qulqulloomiisaatii fi qulquloomiisa dhabiisaa 11:1–15:33

Guyyaa Gumaa cubbu'uu 16:1–34

Seera marroo woyyummaa jiru'uutii fi waaqonfanna'aa 17:1–27:34

Kennansa Gubamu

¹ Mootiin Waan Maraa Dunkaanii Woldeenna'aa keessaa Muusee waamee,

² «Kolbaa Israa'elootaatiin «Isin keessaa nami ana Mootii Waan Maraatiif kennansa hori'ii yennaa dhikeessu, loon keessaa yookiin hoolee keessaa yookiin re'ee keessaa dhikeessuu ti» jedhi.

³ Kennansi kun kennansa hori'ii ka gubamu yoo te'e, korma fafa hin qanne te'uu ti; Mootii Waan Maraa duratti fudhatama akka qabaatu, seensuma gara Dunkaanii Woldeenna'aa duratti dhikeessuu ti.

⁴ Nami sun harka ifii mataa horii kennansa gubamuu san irra kewuu ti; kunille gumaa cubbuu isaatiif bakka isaa bu'ee fudhatama qabaata.

⁵ Inni korma ana Mootii Waan Maraa duratti qaluu ti; achiin duuba ilmaan Aaronii hayyooti dhiiga san fidanee addee ciinca'aa ta gara seensuma Dunkaanii Woldeenna'aa jirtu san cinaa isi'ii mara irratti dhangalaasuu ti.

⁶ Inni kennansa gubamu san gogaa irraa qalee kukkutuu ti.

⁷ Ilmaan Aaronii hayyichaa addee ciinca'aa irratti ibidda gabbisane qoraan itti naqanuu ti.

⁸ Achiin duuba ilmaan Aaronii hayyooti foon kukkutame san, mata'aa fi cooma woliin qoraan addee ciinca'aa irratti bobbe'u san irra tarree galchane naqanuu ti.

⁹ Inni meya gadha'aatii fi manyee bisaaniin dhiquu ti; hayyichi meya gadha'aatii fi manyee san mara addee ciinca'aa irratti gubee aarsuu ti; kennansi kun ka foolee dansaa qabu ka ana Mootii Waan Maraa gammachiisu.

¹⁰ «Kennansi gubamu kun tika hoole'ee yookiin tika re'ee keessaa yoo te'e, korbeessa fafa hin qanne te'uu ti.

¹¹ Inni addee ciinca'aa cinaa gara kaabaatitti fuula ana Mootii Waan Maraa duratti korbeessa san qaluu ti; ilmaan Aaronii hayyooti dhiiga isaa cinaa addee ciinca'aa san maratti dhangalaasanuu ti.

¹² Inni foon san kukkutuu ti; hayyichille foon kukkutame san, mata'aa fi cooma woliin qoraan addee ciinca'aa irratti bobbe'u san irra tarree galchee naquu ti.

¹³ Namichi meya gadha'aatii fi manyeelee san bisaaniin dhiquu ti. Hayyichi ammoo kennansa gubamu san mara addee ciinca'aa irratti gubuu ti; kennansi gubamu kun ka foolee dansaa qabu ka ana Mootii Waan Maraa gammachiisu.

¹⁴ «Kennansi gubamu ka inni dhikeessu waan koolaan ka'u keessaa yoo te'e, saphaliisa yookiin maddoo te'uu ti.

¹⁵ Hayyichi kennansa san addee ciinca'aatitti fidee, mataa micciiree, addee ciinca'aa irratti gubuu ti; dhiiga isi'ii cinaa addee ciinca'aa irratti coccossuu ti.

¹⁶ Daakuu isi'ii baala isi'ii woliin keessaa baasee, addee ciinca'aa gara baya adu'utitti, addee daadhaa itti gatanutti gatu ti.

¹⁷ Inni karaa koola isi'iitiin gad quncisuutii malee, irraa hin kutin; achiin duuba hayyichi qoraan addee ciinca'aa irratti bohe'u san irratti gubuu ti. Kun kennansa gubamu, ka ibiddaan gubamee dhikaatu, ka foolee dansaa qabu ka ana Mootii Waan Maraa gammachiisu.

2

Kennansa Midhaanii

¹ «Eennulle kennansa midhaanii ana Mootii Waan Maraatiif yenna dhikeessu, bullaa dansaa irraa dhikeessuu ti. Inni zayitii ejersaa itti dhangalaasee, hixaanalle irra keyee,

² gara ilmaan Aaronii hayyootatti geessuu ti. Hayyichi bullaa dansaa ooboo tokko guutu'uu fi zayitiin ejersaa san, hixaana maraayyuu woliin fuudhee, yaadanno'oof akka te'u, kennansa ibiddaan gubamee dhikaatu, ka foolee dansaa qabu ka ana Mootii Waan Maraa gammachiisu godhee, addee ciinca'aa irratti gamisa gubuu ti.

³ Ka hafe, kennansa midhaanii ka ana Mootii Waan Maraatiif dhikaatu, ka irra caalaa woyyicha te'e keessaa tokko waan te'eef, Aaronii fi ilmaan isaatiif kennamuu ti.

⁴ «Kennansi midhaanii ka boolla ibiddaa keessatti bilcheeffame yoo te'e, bullaa dansaa ta zayitii ejersaatiin sukkuumante, daabboo uukoo hin qanne yookiin bixee hephellittii zayitiin ejersaa irra dibame te'uu ti.

⁵ Kennansi midhaanii ka eelee sibiilaatitti bilcheeffame yoo te'e, bullaa dansaa ta daabboo uukoo hin qanne ta zayitii ejersaatiin sukkuumante te'uu ti.

⁶ Kennansa midhaanii waan te'eef daabboo san didiqqeessii caccassiitii zayitii ejersaa itti naqi.

⁷ Kennansi midhaanii disitii keessatti ka bilcheeffame yoo te'e, bullaa dansaa ta zayitii ejersaatiin makante teetuu ti.

⁸ Kennansa midhaanii ka waan kana irraa hujame ana Mootii Waan Maraatiif fidiitii, hayyicha gara addee ciinca'aa geessutti dhikeessi.

⁹ Hayyichi kennansa midhaanii ka dhikaate kana irraa gamisa fuudhee, yaadanno'oof akka te'u, kennansa ibiddaan gubamee dhikaatu, ka akka dakkara foolee dansaa qadduu ka ana Mootii Waan Maraa gammachiisu godhee addee ciinca'aa irratti gubuu ti.

¹⁰ Ka hafe, kennansa midhaanii ka ibiddaan gubamee ana Mootii Waan Maraatiif dhikaatu keessaa irra caalaa woyyicha te'e keessaa tokko waan te'eef, Aaronii fi ilmaan isaatiif kennamuu ti.

¹¹ «Kennansa midhaanii ka ibiddaan gubamu woliin uukoo yookiin damma gubiisa waan hin barbaachinneef, kennansa midhaanii ka gubamu ka ati ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessitu keessa uukoon yookiin dammi hin jiraatin.

¹² Isin kennansa midhaan mata'aa ana Mootii Waan Maraatiif kennuu hin dandeettan; isaan kun ammoo kennansa gubamu ka foolee dansaa qabu te'anee, addee ciinca'aa irratti hin gubamanu.

¹³ Kennansa midhaanii keeti mara sooddaan mi'eessita. Kennansa midhaanii keeti keessaa soodda gondoorroo Waaqa keetii hin lakkisin; kennansa keeti mara soodda keessa buusi.

¹⁴ «Ati kennansa midhaan mata'aa ana Mootii Waan Maraatiif yoo fidde, midhaan shawwee ibiddatti woddamee sharama dhikeessi.

¹⁵ Inni kennansa midhaanii waan te'eef zayitii ejersaa itti dhangalaasiitii hixaanalle irra keyi.

¹⁶ Kun kennansa ana Mootii Waan Maraatiif ibiddaan gubamee dhikaatu waan te'eef, hayyichi kennansa midhaan sharametii fi zayitii ejersaa san gamisa, hixaana maraayyuu waliin yaadanno'oof akka te'u, ibiddaan gubuu ti.

3

Kennansa Tokkumma'aa

¹ «Nami tokko kennansa tokkumma'aa loon keessaa yoo kennu te'e, korma yookiin sa'a fafa hin qanne Mootii Waan Maraa duratti dhikeessuu ti.

² Inni harka ifii mataa horii kennansa dhikeessee san irra keyee, seensuma Dunkaanii woldeenna'aa duratti qaluu ti. Ilmaan Aaronii hayyooti dhiiga san cinaa addee ciinca'aa mara irratti dhangalaasanuu ti.

³ Kennansa tokkumma'aa kana irraa, ka ibiddaan gubamee ana Mootii Waan Maraatiif dhikaatu, moora meya gadha'aatitti marateeru maraa fi ka meya gadha'aa wolitti hidheeru mara,

⁴ kalattii lamaanuu, moora isii irra jiru ka cinaa dirraa waliin, qaccee tiru'uu kalattii waliin baasuu ti.

⁵ Achiin duuba ilmaan Aaronii addee ciinca'aa irratti, qoraan kennansa gubamuuf boobe'u irratti, kennansa ibiddaan gubamee dhikaatu, ka foolee dansaa qabu ana Mootii Waan Maraa gammachiisu godhane gubannuu ti.

⁶ «Kennansi tokkumma'aaf kennamu karra hoole'ee yookiin re'e'ee keessaa yoo te'e, korbeessa yookiin dhaltuu fafa hin qanne te'uu ti.

⁷ Nami tokko buruusoo hoole'ee yoo kenne, fuula ana Mootii Waan Maraa dura dhikeessuu ti.

⁸ Harka ifii mataa horii kennansa dhikeessee san irra keyee Dunkaanii Woldeenna'aa duratti qaluu ti. Ilmaan Aaronii dhiiga san cinaa addee ciinca'aa mara irratti dhangalaasanuu ti.

⁹ Kennansa tokkumma'aa kana irraa, ka ibiddaan gubamee ana Mootii Waan Maraatiif dhikaatu, duma hoole'ee irraa baasee, moora meya gadha'aatitti marateeruu fi meya gadha'aa wolitti hidheeru mara,

¹⁰ kalattii lamaanuu, moora isii irra jiru ka cinaa dirraa waliin, qaccee tiru'uu kalattii waliin dhikeessuu ti.

¹¹ Akka kennansa sagale'ee ka ibiddaan gubamee ana Mootii Waan Maraatiif dhikaatuutitti, hayyichi isaan kana addee ciinca'aa irratti gubuu ti.

¹² «Kennansi isaa re'ee yoo te'e, fuula ana Mootii Waan Maraa dura dhikeessuu ti.

¹³ Harka ifii mataa isi'ii irra keyee Dunkaanii Woldeenna'aa duratti qaluu ti. Ilmaan Aaronii dhiiga isi'ii cinaa addee ciinca'aa san maratti dhangalaasuu ti.

¹⁴ Kennansa kana irraa, ka ibiddaan gubamee dhikaatu, moora meya gadha'aatitti marateeru maraa fi moora meya gadha'aa wolitti hidheeru mara,

¹⁵ kalattii lamaanuu, moora isii irra jiru ka cinaa dirraa woliin, qaccee tiru'uulle dhikeessuu ti.

¹⁶ Coomi martinuu kiyya waan te'eef, kennansa sagale'ee ka ibiddaan gubamee dhikaatu, ka foolee dansaa qabu ka ana Mootii Waan Maraa gammachiisu godhee, hayyichi addee ciinca'aa irratti ibiddaan gubuu ti.

¹⁷ «Isin cooma mara, dhiiga maralle hin nyaatina'a! Kun addee leetanu maratti dhaloota dhufu maraaf seerata haga bara baraa te'uu ti» jedhe.

4

Kennansa Araara Cubbu'uutiif Dhikaatu

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

² «Kolbaa Israa'elootaatiin, «Eennulle adoo hin beekin cubbuu yennaa hujee fi ajaja kiyya keessaa tokko irra dabaree waan dhooggame yoo hujee,

³ hayyichi guddaan cubbuu yoo hujee, kolbaalle'etti yakkaa yoo fide, cubbuu hujee saniif dardara fafa hin qanne kennansa araara cubbu'uutiif dhikaatu ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessuu ti.

⁴ Dardara san seensuma Dunkaanii Woldeenna'aatitti ana Mootii Waan Maraa dura dhikeessuu ti. Harka ifii mataa dardara sanii irra keyee fuula kiyya duratti qaluu ti.

⁵ Hayyichi guddaan dhiiga dardara sanii irraa diqqaa isaa fuudhee gara Dunkaanii Woldeenna'aa seenuu ti.

⁶ Inni quba ifii dhiiga sanitti cuuphee, diqqaa isaa gollaa addee irra caalaa woyyitti'ii gara duraatiin yennaa torba ana Mootii Waan Maraa duratti fiffixuu ti.

⁷ Achiin duuba hayyichi dhiiga diqqaa isaa gaafota addee ciinca'aa ta Dunkaanii Woldeenna'aa keessaa, ta ana Mootii Waan Maraa duratti hix-aana irratti aarsanu sanitti dibuu ti. Dhiiga dardaraa ka hafe, addee ciinca'aa ta kennansa gubamuu, ta seensuma Dunkaanii Woldeenna'aa dura jirtu jalatti dhangalaasuu ti.

⁸ Inni moora dardara araara cubbu'uutiif dhikaatee san mara: moora meya gadha'aatitti marateeruu fi wolitti hidheeru,

⁹ kalattii lamaanuu moora isii irra jiru ka cinaa dirraa woliin, qaccee tiru'uu kalattii woliin dhikeessuu ti.

¹⁰ Akkuma moora kennansa tokkumma'aaf dhikaate irraa fuudhamee san, hayyichi addee ciinca'aa ta kennansa gubamuu irratti gubuu ti.

¹¹ Ammoo gogaa dardaraatii fi foon isaa mara, akkasuma mata'aa fi manyee isaa, meya gadha'aa,

¹² addee quttumaatiin alatti baasee, addee akka aadaa dhugeeffanna'aatitti qulqulluu teete, addee daadhaan itti haramutti, ibidda qoraaniitiin gubuu ti.

¹³ «Wolde'i Israa'elii marti adoo hin beekiniyyuu cubbuu hujanee, ajaja kiyya keessaa tokko irra dabaranee waan dhooggame yoo hujane, wonni sun wolde'a san duratti beekkamuu dhaddulle, isaan yakkaameyyi'i.

¹⁴ Cubbuun wolde'i hujee sun yennaa beekkante, dardara araara cubbu'uutiif kennamu fidanee Dunkaanii Woldeenna'aa dura dhikeessanuu ti.

¹⁵ Jaarsoleen wolde'aa Mootii Waan Maraa duratti harka ifii mataa dardara sanii irra keyanee, dardarri sun Mootii Waan Maraa duratti qalamuu ti.

¹⁶ Achiin duuba hayyichi guddaan dhiiga dardara sanii irraa diqqaa isaa fuudhee, gara Dunkaanii Woldeenna'aa seenuu ti.

¹⁷ Inni quba ifii dhiiga sanitti cuuphee, diqqaa isaa gollaa addee irra caalaa woyyitti'ii gara duraatiin yennaa torba ana Mootii Waan Maraa duratti fiffixuu ti.

¹⁸ Inni dhiiga diqqaa isaa gaafota addee ciinca'aa ta Dunkaanii Wold-eenna'aa keessaa, ta ana Mootii Waan Maraa duratti hixaana irratti aarsanu sanitti dibuu ti. Dhiiga dardaraa ka hafe, addee ciinca'aa ta kennansa gubamuu, ta seensuma Dunkaanii Woldeenna'aa dura jiru jalatti dhangalaasuu ti.

¹⁹ Inni moora dardara sanii mara baasee addee ciinca'aa irratti gubuu ti.

²⁰ Inni dardara kana akkuma dardara araara cubbu'uutiif dhikaate sanii godhuu ti; akka kanaan hayyichi gumaa cubbuu isaaniitiif hin dhiikeessa; isaalle araara cubbu'uu hin dhaggatan.

²¹ Achiin duuba inni dardara san addee guttumaatiin alatti baasee, akkuma dardara qaraa gube san gubuu ti; kun ciincaa araara cubbuu wolde'aa hin te'a.

²² « Sooressi tokko adoo hin beekin cubbuu hujee, ajaja Mootii Waan Maraa ka Waaqa ifii keessaa tokko irra dabaree waan dhooggame tokko yoo hujee, inni yakkaamessa.

²³ Inni cubbuu hujee san yoo beeke, korbeessa re'e'ee ka fafa hin qanne, kennansa fiduu qaba.

²⁴ Kun ciincaa araara cubbu'uu waan te'eef, harka ifii mataa korbeessa sanii irra keyee, addee kennansi gubamu ana Mootii Waan Maraa duratti qalamutti qaluu ti.

²⁵ Achiin duuba hayyichi dhiiga korbeessa araara cubbu'uutiif dhikaatee san irraa quba ifiitiin diqqaa isaa fuudhee, gaafota addee ciinca'aa ta kennansi gubamu irratti gubamu dibuu ti; ka hafe ammoo addee ciinca'aa jalatti dhangalaasuu ti.

²⁶ Moora isaa mara akkuma moora kennansa tokkumma'aa gube san addee ciinca'aa irratti gubuu ti. Akka kanaan hayyichi cubbuu namichaatiif gumaa cubbu'uu kennuu ti; namichille araara cubbu'uu hin dhaggata.

²⁷ « Kolbaa keessaa nami tokko adoo hin beekin cubbuu hujee, ajaja Mootii Waan Maraa keessaa tokko irra dabaree waan dhooggame tokko yoo hujee, inni yakkaamessa.

²⁸ Inni cubbuu hujee san yoo beeke, re'ee dhaltuu fafa hin qanne, kennansa fiduu qaba.

²⁹ Inni harka ifii mataa re'ittii araara cubbu'uutiif dhikaatte sanii irra keyee, addee kennansa gubamuutitti qaluu ti.

³⁰ Achiin duuba hayyichi dhiiga re'ittii sanii irraa diqqaa isaa quba ifiitiin fuudhee, gaafota addee ciinca'aa ta kennansi gubamu irratti gubamu dibuu ti; ka hafe addee ciinca'aa jalatti dhangalaasuu ti.

³¹ Inni akkuma moora kennansa tokkumma'aaf dhikaatee san, moora isi'ii mara baasuu ti; hayyichi foolee dansaa ana Mootii Waan Maraa gammachi-ittu godhee addee ciinca'aa irratti gubuu ti. Akka kanaan hayyichi gumaa cubbu'uu isaaf kennuu ti; namichille araara hin dhaggata.

³² « Inni araara cubbu'uutiif buruusoo hoole'ee yoo fide, dhaltuu fafa hin qanne fiduu ti.

³³ Inni harka ifii mataa isi'ii irra keyee addee kennansi gubamu itti qalamutti qaluu ti.

³⁴ Achiin duuba hayyichi dhiiga hoolittii araara cubbu'uutiif dhikaatte san irraa diqqaa isaa quba ifiitiin fuudhee, gaafota addee ciinca'aa ta kennansa gubamuu san dibuu ti; ka hafe addee ciinca'aa jalatti dhangalaasuu ti.

³⁵ Inni akkuma moora kennansa tokkumma'aaf dhikaatee san, moora isi'ii mara baasuu ti; hayyichi addee ciinca'aa ta kennansi gubamu ana Mootii Waan Maraatiif gubamu irratti gubuu ti. Akka kanaan hayyichi cubbuu isaatiif gumaa cubbu'uu kennuu ti; namichille araara hin dhaggata.

5

Kennansi Araara Cubbu'uu Yakkaa Attamiitiif Akka Dhikaatu

¹ « Nami tokko mana mura'aatitti waan beekuu fi waan dhagge dhugaa akka bayu waamamee, dhugaa bayuu yoo dide, inni yakkaa saniif itti hin gaafatama.

² Yookiin nami tokko waan aadaa dhugeeffanna'aatiin qulqulluu hin te'inii reeffa bineensa qulqulluu hin te'inii yookiin reeffa horii qulqulluu hin te'inii yookiin reeffa bineensota gadha'aan lafa irra lowanuu adoo hin beekinille yoo tuqe, inni battoweera; yakkaamessalle'e.

³ « Yookiin nami tokko battummaa gosa tamiille teetu, battii nafa namaa keessaa yaatu adoo hin beekinille yoo tuqe, wonni inni tuqe sun battii akka teete yennaa beeke irraa kaasee, yakkaamessa hin te'a.

⁴ « Yookiin nami tokko waanuma te'e maraayyuu, waan dansaa yookiin waan hantuu godhiisaaf, yaada malee adoo ifi hin eegatin yoo kakate, inni beekuu dhabulle, yennaa beekeen irraa kaasee, inni yakkaamessa hin te'a.

⁵ « Eennulle waan akkasii kana keessaa waan tokkoon yakkaamessa yennaa te'e, cubbuu ifii faaci'atuu ti.

⁶ Inni Cubbuu huje saniif, tika hoole'ee yookiin re'e'ee keessaa gorontii hoole'ee yookiin gorontii re'e'ee, kennansa araara cubbu'uu ana Mootii Waan Maraatiif fiduu ti; hayyichille cubbuu isaatiif gumaa hin godha.

⁷ « Inni hoolee yookiin re'ee yoo hin qanne te'e, saphaliisa lama yookiin maddoo lama, takkattii kennansa araara cubbu'uutiif, taan kennansa gubamuuf, ana Mootii Waan Maraatiif fiduu ti.

⁸ Inni gara hayyichaa isaan fiduu ti; hayyichi isaan keessaa dursee takkattii morma micciiree adoo irraa hin kutin kennansa araara cubbu'uutiif dhi-keessuu ti.

⁹ Dhiiga kennansa araara cubbu'uutiif dhikaatee san irraa diqqaa isaa fuudhee, cinaa addee ciinca'aatitti fiffixuu ti; kennansa araara cubbu'uu waan te'eef, dhiiga hafe addee ciinca'aa jalatti dhangalaasuu ti.

¹⁰ Takkattii taanille akkuma seeraatitti akka kennansa gubamuutitti dhikeessuu ti. Hayyichi cubbuu inni huje saniif, gumaa dhikeessuu ti; namichille araara hin dhaggata.

¹¹ « Inni saphaliisa lama yookiin maddoo lama yoo harkaa hin qanne te'e, bullaa dansaa kiiloogiraama lamaa cubbuu huje saniif kennansa araara cubbu'uu dhikeessuu ti. Kun kennansa araara cubbu'uu waan te'eef, zayitii ejersaa yookiin hixaana itti hin naqin.

¹² Inni hayyichatti geessuu ti; bullaan tun kennansa araara cubbu'uutiif dhikaatu waan teeteef, hayyichi ooboo tokko guutuu irraa fuudhee, yaadan-noo akka teetu, kennansa ana Mootii Waan Maraatiif ibiddaan gubamu irratti, addee ciinca'aa irratti gubuu ti.

¹³ Akka kanaan hayyichi cubbuu namichi huje tamiifuu gumaa hin kenna; namichille araara cubbu'uu hin dhaggata. Bullaan irraa hatte akkuma kennansa midhaanii hayyichaaf teetuu ti» jedhi» jedhe.

Kennansa Sababa Yakka'aatiif Dhikaatu

¹⁴ Mootiin Waan Maraa Muuse'een

¹⁵ « Nami tokko adoo hin beekin waan ana Mootii Waan Maraatiif woyy-oome balleessee yoo yakke, sababa yakkaa saniitiif, hoolee keessaa korbeessa fafa hin qanne ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessuu ti. Kennansa sababa yakka'aatiif dhikaatu waan te'eef, gatiin isaa akka madaallii Dunkaanii Woyyitti'ii* ittiin madaalamutti ati itti madaaltetti te'uu ti.

* 5:15 Madaallii Dunkaanii Woyyitti'ii: Afaan Ibrootaatiin sheeqelii meeti'ii jedha.

¹⁶ Inni waan woyyuu te'e keessaa ta balleesse bakka buusuu ti; gatii isi'ii keessaa harka shan keessaa harka tokko itti dabalee, hayyichatti kennuu ti; hayyichi korbeessa hoole'ee ka kennansa sababa yakka'aatiif dhikaatu san waliin gumaa cubbuu isaatiif hin dhikeessa. Namichille cubbuu ifitiif araara hin dhaggata.

¹⁷ «Nami tokko cubbuu hujee, ajaja kiyya keessaa waan dhooggame, adoo hin beekinnu tokkolle yoo casse, inni yakkaamessa; yakkaa ifitiif itti hin gaafatama.

¹⁸ Inni horii keessaa korbeessa fafa hin qanne, gatii ati itti madaaltetti kennansa sababa yakka'aatiif dhikaatuuf, gara hayyichaa fiduu ti. Hayyichi balleessaa inni adoo hin beekin huje saniif gumaa hin kenna; namichille araara hin dhaggata.

¹⁹ Dhugumaan namichi ana Mootii Waan Maraa duratti yakkaa waan hujee, kun kennansa sababa yakka'aatiif dhikaatu» jedhe.

6

¹ Ammalle Mootiin Waan Maraa Muuse'een

² «Seerri nama waan asii gad jiru kana maraan ollaa ifii sobiisaan, ana Mootii Waan Maraa yakkee kana: nami tokko marroo waan magannee itti kenname takkaa yookiin marroo waan qaddii itti kenname takkaa ollaa ifii yoo sobe, ollaa ifii yoo saame, bu'aa dhaggatiisaaf ollaa ifii irratti dhiibbaa yoo tolche,

³ yookiin waan badeeru tokko dhaggee akka hin dhagginiititti dharaan yoo kakate yookiin cubbuu akkanaa tana keessaa takkattiille yoo huje,

⁴ akka kanaan cubbuu hujee yakkaamessa yoo te'e, inni waan hate yookiin waan saame yookiin waan magannee itti kenname yookiin bu'aa dhaggatiisaaf ollaa ifii irratti dhiibbaa waan tolche yookiin waan baddeertuun dhagge san,

⁵ yookiin waan akka waan hin dhagginiititti sobaan kakate san maraayyuu deebisuu ti. Guyyaa kennansa sababa yakkaa ifitiif dhikeessu, gatii isi'iititti harka shan keessaa harka tokko itti dabalee abbaa karraatiif deebisuu ti.

⁶ Inni horii keessaa korbeessa hoole'ee ka fafa hin qanne, gatii ati itti madaaltetti, kennansa sababa yakka'aatiif dhikaatu ana Mootii Waan Maraatiif gara hayyichaa fiduu ti.

⁷ Hayyichi waan namichi hujee yakkaa itti te'e san maraaf, fuula kiyya duratti gumaa godhee kennuu ti; namichille araara hin dhaggata» jedhe.

Kennansa Duuduma Gubamu

⁸ Mootiin Waan Maraa Muuse'een

⁹ «Aaronii fi ilmaan isaa ajaja kana ajaji: «Kun seerata kennansa gubamuu ti: kennansi gubamu halkan guutuu haga bari'iititti addee ciinca'aa irra turuu ti; ibiddille addee ciinca'aa irratti itti bobe'aa buluu ti.

¹⁰ Hayyichi lukee nafa isaatitti aantu ta quncee talba'aa irraa hujante hidhatee, woyaa ifii ta quncee talba'aa irraa hujante uffatee, daadhaa kennansa addee ciinca'aatitti gubamuu san irraa fuudhee, addee ciinca'aatiin cina'atti gad naquu ti.

¹¹ Achiin duuba woyaa ifii san jijjiiratee daadhaa san addee quttumaatiin ala addee aadaa dhugeeffanna'aatiin qulqulluu teetetti geessuu ti.

¹² Ibiddi addee ciinca'aa irraa ittuma bobe'uutii malee ijumaa hin dhaamin. Hayyichi ganama ganama qoraan itti dabaluu ti; kennansa gubamulle ibidda san irratti tarree galchee, moora kennansa tokkumma'aa san irratti gubuu ti.

¹³ Ibiddi yennaa mara addee ciinca'aa irratti bobbe'uutii malee ijumaa hin dhaamin.

Kennansa Midhaanii

¹⁴ «Seerri kennansa midhaanii asii gad jira: Sanyii ilmaan Aaronii keessaa hayyichi tokko addee ciinca'aatiin duratti, kennansa midhaanii ana Mootii Waan Maraa dura dhikeessuu ti.

¹⁵ Hayyichi bullaa dansaa zayitiin ejersaa itti dhangalaafame san ooboo tokko guutuu, hixaana kennansa midhaanii irra jiru san mara woliin fuudhee, ka foolee dansaa qabu ka ana Mootii Waan Maraa gammachiisu godhee, yaadannoo akka te'u, addee ciinca'aa irratti gubuu ti.

¹⁶ Ka hafe Aaronii fi ilmaan isaa uukoo malee, badhinna dalleya keessaa ka Dunkaanii Woldeenna'aatitti addee woyyittii keessatti nyaatanuu ti.

¹⁷ Uukoo malee bilcheeffantuu ti. Ani kennansa midhaanii ka ibiddaan gubamee ana Mootii Waan Maraatiif dhikaatu keessaa qooda isaanii akka teetuuf kenneera. Isiin akkuma kennansa araara cubbu'uutii fi yakka'aatiif dhikaatuu guddoo woyyitti'i.

¹⁸ Sanyii Aaronii keessaa dhiirti martinuu kennansa ibiddaan gubamee ana Mootii Waan Maraatiif dhikaatu irraa hin nyaatan; kun dhalootaa haga dhalootaatitti qooda isaanii hin te'a. Nami kennansa san tuqe marti woyyuu hin te'a» jedhi» jedhe.

Kennansa Midhaanii Ka Yennaa Hayyichi Guddaan Muudamu Dhikaatu

¹⁹ Mootiin Waan Maraa ammalle Muuse'een,

²⁰ «Aaronii fi ilmaan isaa keessaa guyyaa hayyichi guddaan muudamu, kennansi ana Mootii Waan Maraatiif fidanu: bullaa dansaa kennansa yennaa mara dhikaatuuf, kiiloo giraamii lama keessaa gamisa barii, gamisa galgala dhikeessanuu ti.

²¹ Bullaa zayitii ejersaatiin sukkuumantee akka dansaa wolitti makantee, eelee sibiilaatitti bilcheeffantee, caccaffantee akka kennansa midhaaniititti, ta foolee dansaa qaddu ta ana Mootii Waan Maraa gammachiittu naaf dhikeessanuu ti.

²² Ilmaan Aaronii keessaa hayyichi isa bakka bu'iisaaf muudamelle akka-suma tolchuu ti. Kun ana Mootii Waan Maraatiif seera bara baraa ti. Qooda kiyya waan te'eef duudumaa gubamuu qaba.

²³ Kennansi midhaanii ka hayyichi dhikeessu martinuu gubamuu ti malee hin nyaatamin» jedhe.

Kennansa Araara Cubbu'uutiif Dhikaatu

²⁴ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

²⁵ «Aaronii fi ilmaan isaatiin, «Kun seera kennansa araara cubbu'uutiif dhikaatuu ti: horiin araara cubbu'uutiif kennamu irraa caalaa woyyuu ka te'e keessaa tokko waan te'eef, addee kennansi gubamu itti qalamutti, fuula ana Mootii Waan Maraa duratti qalamuu ti.

²⁶ Hayyichi kennansa araara cubbu'uu ciincessu addee woyyittii keessatti badhinna dalleya keessaa ka Dunkaanii Woldeenna'aa keessatti foon san nyaatuu ti.

²⁷ Wonni foon san tuqe marti woyyuu te'a; dhiigi horii sanii woya'atti yoo faca'e, addeen inni itti faca'e sun addee woyyitti'itti dhiqantuu ti.

²⁸ Okkoteen foon sun itti iffeelame caccabuu qaddi; okkotee sageettuu irraa hujante yoo teete ammoo rigantee bisaaniin dhiqantuu ti.

²⁹ Horiin qalame sun irra caalaa woyyuu ka te'e keessaa tokko waan te'eef, maatii hayyootaa keessaa dhiirti martinuu foon san nyaatanuu ti.

³⁰ Horii araara cubbu'uutiif dhikaatee, dhiigi isaa gumaa cubbu'uutiif Dunkaanii Woldeenna'aa keessa addee irra caalaa woyyittii teete yoo seene, foon horii sanii gubamuutii malee hin nyaatamin.

7

Kennansa Sababa Yakka'aatiif Dhikaatu

¹ « Seerri irra caalaa woyyicha te'e keessaa tokko ka te'e, ka kennansa sababa yakka'aatiif dhikaatuu asii gad jira:

² Adduma kennansi gubamu itti qalamutti kennansi sababa yakka'aatiif dhikaatulle qalamuu ti; dhiigi isaalle cinaa addee ciinca'aa maratti fiffixamu ti.

³ Coomi duma isaatii fi moorri meya gadha'aa gollu,

⁴ kalattiin lamaanuu, moora isii irra jiru ka cinaa dirraa waliin, qaccee tiru'uu kalattii waliin kennansaaf dhikaatanuu ti.

⁵ Kennansa sababa yakka'aatiif dhikaatanu waan te'aneef, hayyichi akka kennansa ibiddaan gubamee Mootii Waan Maraatiif dhikaatuu addee ciinca'aa irratti gubuu ti.

⁶ Maatii hayyichaa keessaa dhiirti martinuu nyaattuu ti; kennansi kun ka irra caalaa woyyuu te'e keessaa tokko waan te'eef, addee woyyitti'itti nyaatamuu ti.

⁷ « Kennansi araara cubbu'uutiif dhikaatu akkuma kennansa sababa yakka'aatiif dhikaatuu waan te'eef, seerri isaanii tokkuma; foon kennansaaf dhikaate sun hayyicha gumaa tolchuuf te'uu ti.

⁸ Hayyichi horii nami kennansa gubamuuf fide san gubu, gogaa horii kennansa gubamuuf dhikaatee san ifiif fudhatuu ti.

⁹ Kennansi midhaanii ka barbada ibiddaa irratti woddame yookiin ka okkote'etti iffeelame yookiin ka eelee sibiilaatitti akowame sun hayyicha kennansa dhikeesse saniif kennamuu ti.

¹⁰ Kennansi midhaanii ka zayiti'in sukkuumame yookiin ka zayitii hin qanne marti ilmaan Aaronii maraaf wol qixa qoodamuu ti.

Kennansa Tokkumma'aa

¹¹ « Seerri kennansa tokkumma'aa ka Mootii Waan Maraatiif dhikaatuu ka asii gad jiru:

¹² Nami tokko kennansa galataa yoo dhikeesse, kennansa galataa san waliin bixee bullaa dansaa uukoo hin qanne ta zayiti'in sukkuumante, bixee hephellittii uukoo hin qanne ta zayitiin irra dibamee fi zayiti'in sukkuumante dhikeessuu ti.

¹³ Kennansa galataa ka tokkumma'aa kana waliin daabboo uukoo qaddu kennansa dhikeessuu qaba.

¹⁴ Gosa daabboo kennansaaf dhikaatte tokko tokkooyyuu irraa tokko tokko fuudhee ana Mootii Waan Maraatiif adda baasee, kennansa dhikeessee, hayyicha dhiiga kennansa tokkumma'aaf dhikaatu fiffixu saniif kennuu ti.

¹⁵ Foon kennansa galataa ka tokkumma'aa sun guyyuma kennansaaf dhikaate san nyaatamuutii malee, ijjumaa hin bulin.

¹⁶ « Kennansi sun kennansa woreegaa yookiin kennansa fedhi'in kennamu yoo te'elle, guyyuma dhikaate san nyaatamuu ti; wonni irraa hafe ammoo guyyaa itti aanu nyaatamuu ti.

¹⁷ Foon kennansaaf dhikaate san irraa hafee haga guyyaa sadii ture ibiddaan gubamuu qaba.

¹⁸ Foon kennansa tokkumma'aa sun guyyaa sadeesso'oo yoo nyaatame, kennansi namichaa fudhatama hin qabu; hin laakkowamuufille'e; battii waan te'eef, nami isa nyaate itti hin gaafatama.

¹⁹ «*«Foon aadaa dhugeeffanna'aatiin waan battii te'e tuqe marti guba-muutii malee hin nyaatamin. Foon qulqulluu te'e ammoo nami akka aadaa dhugeeffanna'aatitti qulqulluu te'e marti nyaatuu ti.*

²⁰ Nami akka aadaa dhugeeffanna'aatitti qulqulluu hin te'in foon kennansa tokkumma'aa ka ana Mootii Waan Maraa dhikaate irraa yoo nyaate, kolbaa ifii keessaa bawuu ti.

²¹ Eennulle nama batticha yookiin horii batticha yookiin waan battii te'e mara tuqee, foon kennansa tokkumma'aa ka ana Mootii Waan Maraa dhikaate san yoo nyaate, kolbaa ifii keessaa bawuu ti» jedhi» jedhe.

Moora fi Dhiiga Nyaatiis Dhooggame

²² Ammalle Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

²³ «Kolbaa Israa'eliitiin, «Moora loonii, moora re'e'ee yookiin moora hoole'ee hin nyaatina'a!

²⁴ Moora horii ifiin du'ee yookiin ka bineensi ijjeesee hujii dhibi'iif itti fayyadama'a malee hin nyaatina'a.

²⁵ Nami moora horii kennansa ana Mootii Waan Maraatiif ibiddaan gubamee dhikaatuu san nyaatu, kolbaa ifii keessaa bawuu ti.

²⁶ Addee leetanu maratti dhiiga maraayyuu ka sinbirre'ee yookiin ka bineensaalle yoo te'e hin nyaatina'a.

²⁷ Eennulle dhiiga yoo nyaate, kolbaa ifii keessaa bawuu ti» jedhi» jedhe.

Qooda Hayyichaaf Kennamu

²⁸ Mootiin Waan Maraa ammalle Muuse'een,

²⁹ «Kolbaa Israa'elootaatiin, «Nami kennansa tokkumma'aa ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessu, kennansuma san irraa fuudhee kennansa naaf dhikeessuu ti.

³⁰ Inni kennansa ibiddaan gubamee ana Mootii Waan Maraatiif dhikaatu harkuma ifitiin dhikeessuu ti; moora cormii woliin fiduu ti; kennansa tachoofamuuf ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessuu ti.

³¹ Hayyichi moora san addee ciinca'aa irratti gubuu ti; cormiin ammoo Aaronii fi ilmaan isaatiif kennamuu ti.

³² Kennansa tokkumma'aaf dhikaate luka gara middaa hayyichaaf kenna'a.

³³ Ilmaan Aaronii keessaa dhiiga fi moora kennansa tokkumma'aa san ciinca'aaf ka dhikeesse, luka gara middaa ifiif fudhatuu ti.

³⁴ Ani kennansa Israa'elootaa ka tokkumma'aa irraa, cormii tachoofantee fi luka ol fuudhante fuudhee, yennaa mara qooda isaanii akka te'u, Aaronii hayyichaa fi ilmaan isaatiif kenneera. Kun seera yennaa maraa ti.

³⁵ Aaronii fi ilmaan isaa guyyaa hayyuu te'anee ana Mootii Waan Maraa tajaajiliisaaf muudamane, kennansa ibiddaan gubamee ana Mootii Waan Maraatiif dhikaate irraa qoodi isaaniif kenname kana.

³⁶ Guyyaa isaan muudamane, Israa'elooti dhalootaa haga dhalootaatitti yennaa mara qooda isaanii akka te'u godhanee akka kennanu ani Mootiin Waan Maraa ajajeera» jedhiin» jedhe.

³⁷ Seerri kennansa gubamuu, seerri kennansa midhaanii, seerri kennansa araara cubbu'uutiif dhikaatuu, seerri kennansa sababa yakka'aatiif dhikaatuu, seerri kennansa muudama hayyootaatiif dhikaatuu fi seerri kennansa tokkumma'aa kana.

³⁸ Kun goomolee Siina'aa keessatti, Israa'elooti kennansa ifii akka Mootii Waan Maraatiif kennanu guyyaa ajaje, gaara Siina'aa irratti seera Mootiin Waan Maraa Muuse'eef kenne.

8

Muudama Aaroniitii fi Ilmaan Isaa

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

² «Aaronii fi ilmaa isaa woliin woyaa hayyumma'aa ta isaanii, zayitii muudaa, dardara araara cubbu'uutiif kennamu, buruusota korbeeyyii hoole'ee lamaa fi kollonjoo daabboo ukoo hin qanne qaddu fidi.

³ Achiin duuba kolbaa Israa'elii duudii seensuma Dunkaanii Woldeenna'aa duratti wolitti qabi!» jedhe.

⁴ Muuseelle akkuma Mootiin Waan Maraa isa ajaje tolchee, kolbaan marti seensuma Dunkaanii Woldeenna'aa duratti wolitti qabamane.

⁵ Muuseelle isaaniin, «Akka isin tolchitanuuf wonni Mootiin Waan Maraa ajaje kana» jedhe.

⁶ Achiin duuba Muuseen Aaronii fi ilmaan isaa gara duraa akka dhufanu godhee bisaaniin isaan dhige.

⁷ Aaronitti qoloo haga miilaa dheertuu itti uffisee, hiituu itti hidhee, qoloo gubba'aatii fi woyaa hayyumma'aa ta qomaa itti uffise. Inni woyaa hayyumma'aa ta qomaa san hiituu isi'ii ta worra ogummaa woyaa dhowiisa akka dansaa beekuun dhowanteen itti hidhe.

⁸ Inni kiisii qomaa itti hodhee, uriimii fi tumiim* keessa keye.

⁹ Akkuma Mootiin Waan Maraa isa ajaje marata mata'aa mataa isaatitti maree, marata san irratti gara fuula duraatiin kallacha worqii irraa hujame ka beessisa woyyumma'aa itti qassiise.

¹⁰ Achiin duuba Muuseen zayitii muudaa fuudhee, Dunkaanii Wold-eenna'aatii fi waan isii keessa jiru mara muudee wooyoonse.

¹¹ Inni zayitii muudaa san irraa diqqoo isi'ii fuudhee addee ciinca'aa irratti yennaa torba fiffixee, addee ciinca'aatii fi meya isi'ii mara, qorii itti dhiqatanu waan qoriin sun irra keyatantu woliinuu Mootii Waan Maraatiif wooyoonsiisaaf muude.

¹² Aaron wooyoonsiisaaf zayitii muudaa san irraa diqqoo isi'ii mataa isaa irratti dhangalaasee isa muude.

¹³ Akkuma Mootiin Waan Maraa isa ajajetti, Muuseen ilmaan Aaronii gara duraa fidee, qoloo haga miilaa dheeratu itti uffisee, hiituu itti hidhee, marata mata'aa mataa isaaniititti mare.

¹⁴ Achiin duuba inni dardara araara cubbu'uutiif dhikaatu fidee, Aaronii fi ilmaan isaalle harka ifii mataa dardara sanii irra keyane.

¹⁵ Muuseen dardara san qalee, addee ciinca'aa qulqulleessiisaaf, dhiiga diqqaa isaa fuudhee, quba ifitiin gaafota addee ciinca'aa san mara dibee, ka hafe addee ciinca'aa jalatti dhangalaase; akka kanaan inni gumaa cubbu'uu addee ciinca'aatiif dhikeessee addee ciinca'aa san wooyoonse.

¹⁶ Muuseen moora meya gadha'aa gollu mara, qaccee tiru'uutii fi kalattii lamaanuu moora isii irra jiru mara woliin fuudhee addee ciinca'aa irratti gube.

¹⁷ Muuseen akkuma Mootii Waan Maraa isa ajajetti waan dardara sanii ka hafe, gogaa isaa foon isaatii fi meya gadha'aa addee quttumaatiin alatti baasee gube.

¹⁸ Achiin duuba inni korbeessa hoole'ee kennansa gubamuuf dhikeessee, Aaronii fi ilmaan isaa harka ifii mataa korbeessa sanii irra keyane.

¹⁹ Achiin duuba Muuseen korbeessa san qalee, dhiiga isaa cinaa addee ciinca'aa san maratti dhangalaase.

* **8:8** Uriimii fi tumiim: Waan hayyichi fedhii Waaqaa murteessiisaaf itti fayyadamu.

²⁰ Inni korbeessa san kukkutee, mataa isaa, foon kukkutamee fi moora isaa gube.

²¹ Meya gadha'aatii fi manyee isaa bisaaniin dhiqee, akkuma Mootiin Waan Maraa isa ajajetti, foon korbeessaa maraayyuu, kennansa ibiddaan gubamee Mootii Waan Maraatiif dhikaatu, ka foolee dansaa qabu godhee, addee ciinca'aa irratti gube.

²² Achiin duuba Muuseen korbeessa lammeesso'oo ka seera muudama hayyootaatiif dhikaatu fidee, Aaronii fi ilmaa isaa mataa isaa irra harka ifii keyane.

²³ Muuseen korbeessa san qalee, dhiiga isaa irraa diqqaa isaa fuudhee, qaccee gurra Aaronii ka gara middaa, quba isaa abguddicha ka harka middichaatii fi quba isaa abguddicha ka miila middichaa isse.

²⁴ Achiin duuba inni ilmaan Aaronii gara duraa fidee, dhiiga san irraa diqqaa isaa fuudhee, qaccee gurra isaanii ka gara middaa, quba isaanii abguddicha[†] ka harka middichaatii fi quba isaanii abguddicha ka miila middichaa isse. Dhiiga hafe cinaa addee ciinca'aa maratti dhangalaase.

²⁵ Cooma isaa: cooma dumaa, moora meya gadha'aa mara, qaccee tiru'uu, kalattii lamaanuu moora isii irra jiru woliin, luka gara middalle fuudhe.

²⁶ Achiin duuba daabboo uukoo hin qanne, ta kollonjoo fuula Mootii Waan Maraa dura jirtu irraa bixee tokko, bixee daabboo zayiti'iin sukkuumantee tokkoo fi bixee hephellittii fuudhee moora sanii fi luka gara middaa san irra keye;

²⁷ Inni kana maraa harka Aaroniitii fi harka ilmaan isaa irra keye. Isaanille kennansa tachoofamu Mootii Waan Maraatiif dhikeessane.

²⁸ Achiin duuba Muuseen kennansa san harka isaanii irraa fuudhee akka ciincaa muudama hayyootaatiif dhikaatuu, ka foolee dansaa qabuu godhee addee ciinca'aa irratti, kennansa gubamu irratti gube.

²⁹ Muuseen akkuma Mootiin Waan Maraa isa ajajetti cormii korbeessa hoole'ee ta ciincaa muudama hayyootaatiif dhikaatu ta qooda ifii fuudhee, kennansa tachoofamu Mootii Waan Maraatiif dhikeesse.

³⁰ Achiin duuba Muuseen zayitii muudaatii fi dhiiga diqqaa isaa addee ciinca'aa irraa fuudhee, Aaronii fi woyaa isaatitti, ilmaan isaatii fi woyaa ilmaan isaatitti fiffixee, Aaronii fi woyaa isaa, ilmaan isaatii fi woyaa isaanii woyyoonse.

³¹ Achiin duuba Muuseen Aaronii fi ilmaan isaatiin, «Foon san seensuma Dunkaanii Woldeenna'aa duratti iffeela'aatii, akkuma Mootiin Waan Maraa ajajetti, daabboo kollonjoo kennansa muudama hayyootaatiif dhikaatte keessa jirtu woliin, achumatti nyaadha'a.

³² Foonii fi daabboo hatte ibiddaan guba'a.

³³ Seerri muudama hayyummaa teessanii guyyaa torba waan fud-hatuuf, haga guyyaan muudama hayyummaa teessanii muummowutti, haga guyyaa torbaa seensuma Dunkaanii Woldeenna'aa dura tura'a.

³⁴ Waan adha hujame kana cubbuu teessaniif gumaa tolchiisaaf Mootii Waan Maraatiitti ajaje.

³⁵ Akkuma Mootiin Waan Maraa na ajajetti, haga guyyaa torbaa halkanii fi guyyaa seensuma Dunkaanii Woldeenna'aa dura tura'a. Akka hin duuneef waan Mootiin Waan Maraa isin irraa barbaadu huja'a» jedhe.

³⁶ Maarre Aaronii fi ilmaan isaa waan Mootiin Waan Maraa karaa Muuse'eetiin ajaje mara godhane.

[†] 8:24 Quba abguddicha: Quba arguddicha worri jedhulle jira.

9

Aaronii Fi ilmaan Isa Ciincaa Dhikeessuu Jalqabane

¹ Muuseen guyyaa saddeetesso'oo Aaronii fi ilmaan isaa, jaarsolee Israa'elootaalle waame.

² Inni Aarooniin, «Kennansa araara cubbuu teetiitiif dhikaatu dardara tokko, kennansa gubamuuf korbeessa hoole'ee tokko, lamaanuu ka fafa hin qanne fuudhiitii fuula Mootii Waan Maraa dura dhikeessi.

³ Achiin duuba Israa'elootaan, «Kennansa araara cubbu'uutiif dhikaatu korbeessa re'e'ee tokko, kennansa gubamuufille jibicha woggaa tokkootii fi korbeessa hoole'ee ka woggaa tokkoo lamaanuu ka fafa hin qanne fuudha'a!

⁴ Adha Mootiin Waan Maraa waan isinitti mudhatuuf, Kennansa tokkumma'aatiif kormaa fi korbeessa hoole'ee, kennansa midhaanii ka zayiti'in sukkuumame woliin ciinCESSiisaaf Mootii Waan Maraa dura dhikeessa'a» jedhiin» jedhe.

⁵ Isaan waan Muuseen ajaje mara Dunkaanii Woldeenna'aa dura fidane; wolde'i duudiin dhufanee fuula Mootii Waan Maraa dura dhaabbatane.

⁶ Achiin duuba Muuseen isaaniin, «Ulfinni Mootii Waan Maraa akka isinitti mudhatuuf, tun waan Mootiin Waan Maraa isin ajaje» jedhe.

⁷ Muuseen ammalle Aarooniin, «Addee ciinca'aa dhaqiitii, kennansa keeti ka araaraa cubbu'uutiif dhikaatuu fi kennansa keeti ka gubamu ciinCESSiitii, kolba'aa fi ifiifille gumaa cubbu'uu kenni. Akkuma Mootiin Waan Maraa ajajetti marroo kolba'aatiif kennansa dhikeessiitii gumaa cubbuu isaani kenni» jedhe.

⁸ Maarre Aaron gara addee ciinca'aa dhagee, jibicha araaraa cubbuu isaatiif dhikaate san qale.

⁹ Ilmaan isaa dhiiga jibichaa san isatti fiddee, inni quba ifi dhiiga san keessa cuuphee gaafota addee ciinca'aa san dibe; ka hafe addee ciinca'aa jalatti dhangalaase.

¹⁰ Akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajajetti, kennansa araara cubbu'uutiif dhikaatu irraa moora, kalattii lamaanuu, qaccee tiru'uu addee ciinca'aa irratti gube.

¹¹ Inni foonii fi gogaa addee quttumaatiin alatti ibiddaan gube.

¹² Achiin duuba inni kennansa gubamu san qale. Ilmaan isaa dhiiga jibichaa isatti fidanee, inni cinaa addee ciinca'aa maratti dhangalaase.

¹³ Ilmaan isaa kennansa gubamiisaaf qalame san kukkuttee mataa woliin isatti fidde. Innille addee ciinca'aa irratti gube.

¹⁴ Achiin duuba inni meya gadha'aatii fi manyee dhiqee kennansa gubamu woliin addee ciinca'aa irratti, kennansa gubamu irratti gube.

¹⁵ Achiin duuba Aaron kennansa marroo kolba'aa dhikeesse. Korbeessa re'e'ee ka araara cubbuu kolba'aatiif dhikaate san fuudhee qalee, akkuma qara araara cubbuu ifiitiif dhikeesse san araara cubbu'uutiif dhikeesse.

¹⁶ Inni horii kennansa gubamuuf dhikaate san fidee akkuma seeraatitti ciincaa dhikeesse.

¹⁷ Inni kennansa midhaaniille fidee, ooboo tokko irraa fuudhee, ciincaa ganama ganama dhikaatutti ede'ee addee ciinca'aa irratti gube.

¹⁸ Aaron kormaa fi korbeessa hoole'ee ka marroo kolba'aa kennansa tokkumma'aatiif dhikaate san qale. Ilmaan isaa dhiiga horii sanii isatti fidanee, inni cinaa addee ciinca'aa mara irratti dhangalaase.

¹⁹ Ilmaan Aaronii moora kormaatii fi moora korbeessa hoole'ee, duma isaa, moora meya gadha'aa, kalattii lamaanuu, qaccee tiru'uulle fuudhanee,

²⁰ cormii kormaatii fi korbeessaa san irra keyane; Aaronille moora san mara addee ciinca'aa irratti gube.

²¹ Akkuma Muuseen ajajetti cormi'ii fi luka gara middaa, kennansa tachoofamu fuula Mootii Waan Maraa dura dhikeesse.

²² Achiin duuba Aaron harka ifii gara kolba'aa diriirsee isaan eebbise; ciincaa araara cubbu'uutiif dhikaatu, kennansa gubamuu fi kennansa tokkumma'aa dhikeesseen duuba gad bu'e.

²³ Muuse'ee fi Aaron gara dunkaanii woldeenna'aa seenane; isaan yennaa gad bayane kolbaa eebbisane; ulfinni Mootii Waan Maraalle kolbaa san maratti mudhate.

²⁴ Ibiddi Mootii Waan Maraa biraa gad bu'ee kennansa gubamuu fi moora addee ciinca'aa irra jiru san mara nyaatee fixe; kolbaan marti waan kana dhagganee, gammadanee ilillisaa gad gombifamane.

10

Du'a Naadaabii fi Abiihu'uu

¹ Ilmaan Aaronii, Naadaabii fi Abiihuun girgiraa ifii fudhatanee, ibidda itti naqanee, hixaanalle itti naqane; ibidda inni hin ajajin Mootii Waan Maraa dura dhikeessane.

² Maarre ibiddi Mootii Waan Maraa biraa dhufee, gubee isaan fixe; isaanille Mootii Waan Maraa duratti du'ane.

³ Achiin duuba Muuseen Aaroniin, «Kun waan Mootiin Waan Maraa qara yennaa dubbate,

«Ani worra gara kiyaa dhikaatu oddu'utti
woyyummaa tiyya hin mudhisa;
kolbaa mara duratti
ulfinna hin dhaggadha» jedheera» jedhe.

Aaron garuu womaa hin dubbanne.

⁴ Muuseen Miishaa'elii fi Elzaafaan ilmaan Uzii'elii abbaa diqqaa Aaronii waamee, «Kowa'aatii reeffa ilmaan obboleessa keessanii addee woyyittii tana irraa fageessa'aatii, addee quttumaatiin alatti baasa'a» jedhe.

⁵ Maarre isaanille dhufanee akkuma muuseen isaan ajajetti, akkuma isaan qoloo haga miilaa dheerattu uffatane saniin reeffa isaanii ba'atanee addee quttumaatiin alatti baasane.

⁶ Achiin duuba Muuseen Aaronii fi ilmaan Aaronii Ele'azaarii fi Itaa-maariin, «Isin akka hin duuneef, Mootiin Waan Maraa kolba'atti akka hin mufanne, gadditanee rifeensa mataa keessanii filatiisa hin dhabina'a! Woyaa teessanille hin tarsaafatina'a! Garuu obboleeyyan teessan ta Mootiin Waan Maraa ibiddaan fixe saniif firri keessan Israa'elooti marti bowuu hin dande'an.

⁷ Mootiin Waan Maraa zayitii muudaa ta ifitiin waan isin muudeeruuf, akka hin duuneef seensuma Dunkaanii Woldeenna'aa duraa hin deemina'a» jedhe. Isaanille akkuma Muuseen isaan ajaje godhane.

Seerata Hayyootaaf Kenname.

⁸ Mootiin Waan Maraa Aaroniin,

⁹ «Akka hin duuneef atii fi ilmaan teeti Dunkaanii Woldeenna'aa yennaa seentanu daadhii woyni'ii yookiin untoo nama macheessitu hin unina'a. Kun dhaloota dhufu maraaf seerata haga bara baraa te'uu ti.

¹⁰ Isin waan woyyuu te'ee fi waan woyyuu hin te'in, waan aadaa dhuge-effanna'aatiin qulqulluu hin te'inii fi waan qulqulluu te'e gargar baasa'aa beeka'a.

¹¹ Seerata ani Mootiin Waan Maraa karaa Muuse'eetiin kenne mara kolbaa Israa'elii barsiisa'a!» jedhe.

¹² Muuseen Aaronii fi ilmaan Aaronii worra hafe Ele'azaarii fi Itaa-maaniin, «Kennansi midhaanii ka kennansa ibiddaan gubamee Mootii Waan

Maraatiif dhikaatu irraa hafe sun kennansa irra caalaa woyyuu te'e keessaa tokko waan te'eef, fuudha'aatii, uukoo malee bukeessa'aatii, addee ciinca'aa biratti nyaadha'a.

¹³ Kennansa ibiddaan gubamee Mootii Waan Maraatiif dhikaatu keessaa kun gooda keetii fi gooda ilmaan teetii waan te'eef, addee woyyitti'itti isa nyaadha'a! Ani tana ajajameera.

¹⁴ Atii fi ilmaan teeti, durri teetille cormii tachoofantee fi luka ol fuudhante san nyaadha'a. Kun kennansa tokkumma'aa ka Israa'elooti dhikeessitu keessaa gooda keetii fi ijoollee teetii waan te'eef, addee akka aadaa dhuge-effanna'aatiin qulqulluu teetetti nyaadha'a.

¹⁵ Luki ol fuudhantee fi cormiin kennansa tachoofamuuf dhikaatte sun, moora kennansa ibiddaan gubamuuf dhikaate, ka kennansa tachoofamuuf Mootii Waan Maraatiif akka dhikaatu kenname woliin dhikaatuu ti. Kun akkuma Mootiin Waan Maraa ajajetti haga bara baraa gooda keetii fi gooda ijoollee teetii hin te'a» jedhe.

¹⁶ Muuseen korbeessa re'e'ee ka kennansa araara cubbu'uutiif dhikaate san yennaa jabeessee iyyaafate, akka inni gubameeru beekke, ilmaan Aaronii worra hafe, Ele'azaarii fi Itaamaaritti aaree,

¹⁷ «Kennansi araara cubbu'uutiif dhikaate sun kennansa irra caalaa woyyuu te'e keessaa tokko waan te'eef, isin maaf addee woyyitti'itti nyaatuu dhaddane? Mootiin Waan Maraa akka isin fuula isaa duratti gumaa kennitane kolbaa irraa yakkaa akka balleessitanu isiniif kenneeyyu.

¹⁸ Dhiigi korbeessaa sun gara addee woyyitti'ii waan seenuu dhabeef, akkuma ani isin ajajetti silaa isin korbeessa san addee woyyitti'itti nyaatuu qaddaniyyu» jedhe.

¹⁹ Aaronille deebisee Muuse'een, «Kunoo, isaan adha kennansa araara cubbu'uutiif dhikaatuu fi kennansa gubamu fuula Mootii Waan Maraa dura dhikeessaneeran; wonni akkasii kun analle dhaqqaddeerti; ani adha kennansa araara cubbu'uutiif dhikaate kana adoo nyaadhee jiraadhee silaa Mootiin Waan Maraa natti hin gammadaa ree?» jedhe.

²⁰ Muuseelle dubbii tana yennaa dhage'e gammade.

11

Gosa Bineensota Nyaatanuu

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'ee fi Aaroniin,

² «Israa'elootaan, «Bineensota maraa fi horii mara keessaa ka isin nyaatuu dandeettanu:

³ ka kotteen isaa baqaqa qadduu fi ka alalfatu mara nyaatuu hin dandeetan.

⁴ « «Bineensota alalfatu ka kotteen isaa baqaqa hin qanne yookiin ka kotteen isaa baqaqa qabaattee hin alalfanne hin nyaatina'a. Gaalli hin alalfata, garuu kotteen isaa baqaqa waan hin qanneef, akka aadaa dhuge-effanna'aatitti battii isiniif te'uu ti.

⁵ Osoleen hin alalfatti, garuu kotteen isi'ii baqaqa waan hin qanneef, battii isiniif teetuu ti.

⁶ Hilleensi hin alalfata, garuu kotteen isaa baqaqa waan hin qanneef, battii isiniif te'uu ti.

⁷ Booyyee kotteen isi'ii baqaqa qaddi, garuu waan hin alalfanneef, battii isiniif teetuu ti.

⁸ Isaan kun isiniif battii waan te'aneef, foon isaanii hin nyaatina'a; reeffa isaaniille hin tuqina'a.

⁹ « «Bineensota abbaayaa keessatti yookiin laga keessatti dadamane keessaa, ka koolaa fi solloqqee qabanu nyaadhu.

¹⁰ Bineensota abbaayaa keessatti yookiin laga keessatti dadamanee mun-yuuganu mara keessaa, ka koola hin qanne yookiin ka solloqqee hin qanne ammoo hin nyaatina'a.

¹¹ Isaan isiniif battii waan te'aneef, foon isaanii hin nyaatina'a; reeffa isaanille hin tuqina'a.

¹² Waan bisaan keessa le'u keessaa wonni koolaa fi solloqqee hin qanne marti isiniif battii te'uu ti.

¹³ « «Gosa sinbirre'ee keessaa ta isiniif battii teetee fi ta isin ijjumaa hin nyaanne: risaa, allaattii, rumicha,

¹⁴ culullee, jajjuu,

¹⁵ harraaqgessa gosa adda addaa,

¹⁶ guchii, baabboo, haanqaa, jajjuu gosa adda addaa,

¹⁷ urunguu, huummoo, qillisaa,

¹⁸ urunguu adii, urunguu goomole'ee, allaattii gosa adda addaa,

¹⁹ qongaa, dhaatii, looyyituu*, cirricho'o.

²⁰ « «Dadi didiqqoon koolaan ka'anuu ka luka afuriin deemanu marti isiniif battii te'anuu ti.

²¹ Te'uu malee dadi koola qabaatanee, luka afuriin deemanu keessaa ka ittiin utaaliisaaf luka qondhooffatu qabanu mara hin nyaattan.

²² Kana keessaa, ka akka korophiisa gosa adda addaa, farda waaqaa gosa adda addaa, awwaannisa gosa adda addaa hin nyaattan.

²³ Ka dhibiin ammoo dadi didiqqoon ka koola qabaatanee luka afuriin ideemanu marti isiniif battii te'anuu ti.

²⁴ « «Isaan kun isin batteessan; nami reeffa isaanii tuqe marti haga galgalaatitti battii hin te'a.

²⁵ Nami reeffa isaanii lafaa fuudhe marti woyaa ifii dhiqatuu ti; inni haga galgalaatitti battii hin te'a.

²⁶ « «Bineensii fi horiin kotteen isaanii baqaqa qabaattee addee lamatti hin goodaminii fi ka hin alalfanne isiniif battii te'anuu ti; nami reeffa isaanii tuqe marti battii hin te'a.

²⁷ Dada luka afuriin ideemanu keessaa ka barru'uun ideemanu marti isiniif battii te'anuu ti; nami reeffa isaanii tuqe marti haga galgala battii hin te'a.

²⁸ Isaan isiniif battii waan te'aneef, nami reeffa isaanii lafaa fuudhe marti woyaa ifii dhiqatuu ti; inni haga galgalaatitti battii hin te'a.

²⁹ « «Bineensota lafa irra munyuuganu keessaa worri battii te'e: tuqaa, hantuuta, qarcoo† gosa adda addaa,

³⁰ bulee goggogaa, naacha, qocaa, wukkallaa‡, gaararraa,

³¹ bineensota lafa irra munyuuganu mara keessaa isaan kun isiniif battii'i; nami reeffa isaanii tuqe marti haga galgalaatitti battii hin te'a.

³² Bineensoti akkasii du'ee meya muka irraa, woyaa irraa, gogaa irraa yookiin keeshaa irraa hujame irra yoo bu'e, mey sun marti battii hin te'a; bisaan keessa keya'a; te'uu malee haga galgalaatitti battii hin te'an; achiin duuba qulqulluu hin te'an.

³³ Reefi isaanii meya faara irraa hujame keessa yoo bu'e, wonni keessa jiru marti battii waan teetuuf meya san cassa'a.

³⁴ Bisaan meya san keessaa Sagalee nyaatanu maratti yoo cophe, sagaleen sun battii hin teeti; wonni meya san keessaa unanu marti battii hin te'a.

* **11:19** Looyyituu: Gosa sinbirre'ee ti. Isiin lafa tokko tokkotti tuuttujaa jedhanti. † **11:29** Qarcoo: Lafa tokko tokkotti lootuu jedhan. ‡ **11:30** Wukkallaa: Bineensa naacha fakkaatu ka naacha irra diqqaatu.

³⁵ Wonni reeffi isaanii irra bu'e marti battii hin te'a; eeleen yookiin okkoteen sun cacadduu ti. Isaan martinuu batti'i; akka batti'iititti isaan ilaala'a.

³⁶ Wonni dhibiin ta reeffa bineensotaa fi horii kanaa tuqe marti battii te'anulle, maddi yookiin boolli bisaanii hin battoottu.

³⁷ Reeffi isaanii midhaan sanyi'ii irra yoo bu'e, sanyiin sun hin battoottu.

³⁸ Ammoo midhaan sanyi'iititti bisaan copheeruun reeffi bineensotaa fi horii sanii yoo irra bu'e, sanyiin sun isiniif battii hin teeti.

³⁹ «Bineensaa fi horiin akka isin nyaattanuu eeyyamame keessaa tokko yoo du'e, nami reeffa isaa tuqe haga galgalaatitti battii hin te'a.

⁴⁰ Nami foon bineensaa fi horii du'ee san nyaate woyaa ifii dhiqatuu ti; garuu haga galgalaatitti battii hin te'a. Nami reeffa san lafaa fuudhe marti woyaa ifii dhiqatuu ti; garuu haga galgalaatitti battii hin te'a.

⁴¹ «Dadi gadha'aan lafa irra sinqiiqqataa deemanu marti batti'i; isaan hin nyaatina'a.

⁴² Dadi gadha'aan lafa irra sinqiiqqatanu, ka gadha'aan lafa irra lowanu, ka miila afuriin sinqiiqqataa deemanu yookiin ka miila bacaa qabanu marti isiniif battii waan te'aneef hin nyaatina'a.

⁴³ Bineensota akkanaa kana nyaattanee ifi hin batteessina'a; karaa isaaniitiin battii ifi hin godhina'a yookiin isaaniin hin battowina'a.

⁴⁴ Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan; ani woyyuu waan te'eef, isinille ifi adda baasa'aatii, woyyuu te'a'a. Dada gadha'aan lafa irra sinqiiqqatanu kanaan ifi hin batteessina'a.

⁴⁵ Ani Waaqa keessan te'iisaaf, Mootii Waan Maraa ka biyya Gibxi'ii keessaa isin baase; tanaaf, ani woyyuu waan te'eef, isinille woyyuu te'a'a.

⁴⁶ «Seerri marroo bineensotaa, marroo sinbirrootaa, marroo bineensota bisaan keessaatii fi marroo bineensota lafa irra munyuuqanu maraaf kenname kana.

⁴⁷ Isin waan battii te'ee fi waan qulqulluu te'e, dada lafa irraa ta lubbuu qaddu keessaa ka nyaatamanuu fi ka hin nyaatanne gargar baasa'aatii beeka'a» jedha'a» jedhe.

12

Deyaan Duuba Qulqulloomiisa Dubartootaa

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

² «Israa'elootaan, «Dubartiin ulfoottee ilma yennaa deettu, akkuma xuriin isi'ii ji'uma ji'aan yennaa dhutte battoottu, akka aadaa dhugeeffanna'aatitti guyyaa torbaaf battii hin teeti.

³ Guyyaa saddeetesootitti mucaan haqanqabaa qabatuu ti.

⁴ Achiin duuba dubartittiin haga xurii ifii irraa qulqulloontutti, guyyaa soddonii sad eegattuu ti. Haga guyyaan qulqulloomiisa isi'ii muummowutti waan woyyuu te'e hin tuqin yookiin gara addee woyyitti'ii hin dhaqin.

⁵ Yoo durra deette akkuma yennaa xurii isi'ii haga torbaan lamaa battii hin teeti. Achiin duuba isiin xurii ifii irraa qulqulloomiisaaf, guyyaa jaatamii jaa eegattuu ti.

⁶ «Dubartittiin ilma yookiin intala deettee yennaan qulqulloomiisa isi'ii yennaa muummotte, isiin kennansa gubamuuf buruusoo hoole'ee ka woggaa tokkoo, kennansa araara cubbu'uutiif dhikaatu maddoo yookiin saphaliisa seensuma Dunkaanii Woldeenna'aa duratti gara hayyichaa fidduu ti.

⁷ Innille cubbuu isi'iitiif gumaa tolchiisaaf fuula Mootii Waan Maraa dura dhikeessuu ti. Isiille akka aadaa dhugeeffanna'aatitti dhiiga isii irraa

dhangala'u irraa hin qulqulloonti. Seerri yennaa dubartiin ilma yookiin intala deettee kana.

⁸ «Isiin buruusoo hoole'ee dhikeessuu yoo hin dandeenne, saphaliisa lama yookiin maddoo lama takkattii kennansa gubamuuf, takkattii araara cubbu'uutiif dhikeessituu ti; akka kanaan hayyichi cubbuu isi'itiif gumaa tolchee, isiin hin qulqulloonti» jedhiin» jedhe.

13

Seera Marroo Dhukkuba Goga'aa Farrisiisa'aa

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'ee fi Aaroniin,

² «Nama gogaa nafa ifii irratti iita yookiin robbii yookiin baarilee* qabaa-tee, gara dhukkuba goga'aa farrisiisa'aatitti yoo jijjiiramu te'e, gara Aaronii yookiin ilmaan isaa keessaa gara nama hayyuu te'ee fidanuu ti.

³ Hayyichi madaa gogaa namichaa san qorqoruu ti; rifeensi madaa san keessa jiru adii te'ee yoo jiraate, addeen mada'aa sun gogaa keessa dabar-tee gara keessaa boollottee yoo jiraate, kun dhukkuba goga'aa farrisiisa'a. Hayyichi qorqoree hubateen duuba akka aadaa dhugeeffanna'aatitti akka inni battii te'eeru beessisuu ti.

⁴ Baarileen gogaa namichaa irraa sun gara keessaa boollottee yoo hin jiraanne, rifeensi isii keessaalle adii te'ee yoo hin jiraanne, hayyichi nama dhibamaa san haga guyyaa torbaa qofi isa baasuu ti.

⁵ Guyyaa torbeesso'ootitti hayyichi isa qorqoree, madaan sun akkuma du-raa teetee gogaa isaa keessa babadhataa yoo hin jiraanne, hayyichi ammalle haga guyyaa torbaa qofi isa baasuu ti.

⁶ Hayyichi ammalle guyyaa torbeesso'ootitti isa qorqoruu ti; madaan sun qoortee gogaa keessa babadhataa lakkittee qoortee yoo jiraatte, dhukkubi sun robbii waan te'eef, hayyichi qulqullummaa isaa beessisuu ti. Namichille woyaa ifii dhiqatuu ti; inni qulqulluu hin te'a.

⁷ Hayyichi isa qorqoree qulqulluu akka inni te'e beessiseen duuba robbiin sun gogaa isaa keessaa babadhataa yoo deente, inni ammalle hayyicha dura dhikaatuu ti.

⁸ Hayyichi isa qorqoree robbiin sun gogaa isaa keessa babadhataa deemee yoo jiraate, dhukkubi sun dhukkuba goga'aa farrisiisa'a; hayyichi namichi sun battii akka te'e beessisuu ti.

⁹ «Nami tokko dhukkuba goga'aa farrisiisaa yoo qabaate gara hayyichaa fidanuu ti.

¹⁰ Hayyichi isa qorqoruu ti; Gogaa isaa keessa iiti adiin rifeensa isaa adii gootee, iita san keessaa foon diimaan yoo ol baye,

¹¹ dhukkuba goga'aa farrisiisaa hidda naqate waan te'eef namichi sun battii akka te'e hayyichi beessisuu ti. Inni battii waan te'eef hayyichi qofi isa hin baasin.

¹² «Dhukkubi sun guddatee gogaa namichaa mara irratti bayee, hayyichi qorqoree yennaa ilaalu, mata'aa haga miila isaa yoo golle,

¹³ hayyichi ammalle isa qorqoree, dhukkubi sun nafa namichaa mara akka golle yoo dhagge, namichi qulqulluu akka te'e beessisuu ti. Gogaan isaa marti adii waan te'eef, inni qulqulluu hin te'a.

¹⁴ Madaan sun kulkultee foon diimaan yoo isa irratti mudhate ammoo inni battii hin te'a.

¹⁵ Hayyichi qorqoree foon diimaa yoo isa irratti dhagge, namichi bat-tii akka te'e beessisuu ti. Foon diimaan sun battii waan te'eef, namichi dhukkuba goga'aa farrisiisaa qaba.

* 13:2 Baarilee: Worri baararree jedhulle jira.

¹⁶ Foon diimaan sun deebi'ee yoo addaate ammoo inni gara hayyichaa dhaquu qaba.

¹⁷ Hayyichille isa qorqoruu ti. Madaan sun deebitee yoo addaate namichi sun qulqulluu akka te'e hayyichi beessisuu ti; achiin duuba inni qulqulluu hin te'a.

¹⁸ «Nami tokko gogaa ifii irratti iita qabaatee, iiti sun yoo fayye,

¹⁹ addee iitaa san irratti, iiti adiin yookiin baarileen diimattee addaattu yoo mudhatte, inni gara hayyichaa dhaquu ti.

²⁰ Hayyichille qorqoruu ti; iiti sun gogaa keessa dabartee boollottee, rifeensi isii keessaalle addaatee yoo jiraate, dhukkubi sun dhukkuba goga'aa farrisiisaa, iita irratti baye waan te'eef, namichi battii akka te'e hayyichi beessisuu ti.

²¹ Hayyichi yennaa qorqoree rifeensi adiin iita san keessa yoo hin jiraanne, iiti sun gogaa keessa dabartee adoo hin boollowin, qoortee yoo jiraatte, hayyichi haga guyyaa torbaa qofi isa baasuu ti.

²² Robbiin sun gogaa keessa babadhatte yoo jiraatte, dhukkuba goga'aa farrisiisaa waan te'eef, hayyichi akka inni battii te'e beessisuu ti.

²³ Robbiin sun adduma jirtutti hattee yoo hin babadhatin, gadaannisa iitaa qofa waan te'eef, hayyichi akka inni qulqulluu te'e beessisuu ti.

²⁴ «Nama tokko gogaan isaa yennaa gubate, addee gubate san irratti baarileen diimattee addaattu yookiin addiin yoo mudhatte,

²⁵ Hayyichi baarilee san qorqoruu ti; rifeensi baarilee san keessa jiru adii te'ee yoo jiraate, addeen mada'aa sun gogaa keessa dabartee gara keessaa boollottee yoo jiraate, kun dhukkuba goga'aa farrisiisaa addee gubatte san keessatti baye waan te'eef, hayyichi namichi battii akka te'e beessisuu ti.

²⁶ Hayyichi baarilee san qorqoree, rifeensi adiin isii keessa yoo hin jiraanne, baarileen sun gogaa keessa dabartee adoo hin boollowin, qoortee yoo jiraatte, hayyichi haga guyyaa torbaa qofi isa baasuu ti.

²⁷ Guyyaa torbeesso'ootitti hayyichi ammalle qorqoruu ti; baarileen sun gogaa keessa babadhattee yoo jiraate, dhukkuba goga'aa farrisiisaa waan te'eef, hayyichi akka inni battii te'e beessisuu ti.

²⁸ Baarileen sun adduma jirtutti hattee gogaa keessa adoo hin babadhatin qoortee yoo jiraatte, gadaannisa iita addee gubatee qofa waan te'eef, hayyichi akka namichi qulqulluu te'e beessisuu ti.

²⁹ «Namichi tokko yookiin dubartiin takka mataa irratti yookiin areeda irraa madaa yoo qabaatane,

³⁰ hayyichi madaa san qorqoruu ti; madaan sun gogaa keessa dabartee, rifeensi isii keessaa hadhooticha te'ee qadhatee yoo jiraate, dhukkuba citto'oo yookiin dhukkuba goga'aa farrisiisaa mataa irratti yookiin areeda irratti baye waan te'eef, hayyichi nami sun battii akka te'e beessisuu ti.

³¹ Hayyichi madaa akkasii tana yennaa qorqore ammoo, madaan sun gogaa keessa adoo hin dabarin, rifeensi gurraachille keessa yoo hin jiraatin, hayyichi nama san haga guyyaa torbaa qofi isa baasuu ti.

³² Guyyaa torbeesso'ootitti hayyichi ammalle madaa san qorqoruu ti; madaan sun adoo hin babadhatin, rifeensi isii keessaa booka fakkaatee gogaa keessa dabartee gara keessaa boollottee yoo hin jiraatin,

³³ hayyichi addee mada'aa san qofa lakkisee rifeensa irraa haadatuu ti; hayyichi guyyaa torba itti dabalee ammalle qofi isa baasuu ti.

³⁴ Guyyaa torbeesso'ootitti hayyichi ammalle madaa san qorqoruu ti; madaa sun gogaa keessa dabartee babadhattee yoo hin jiraatin, hayyichi akka inni qulqulluu te'e beessisuu ti. Namichille woyaa ifii dhiqatuu ti; inni qulqulluu hin te'a.

³⁵ Inni qulqulluu akka te'e beessifameen duuba madaan sun gogaa keessa babadhataa yoo deente ammoo,

³⁶ hayyichi isa qorqoruu ti; madaan sun gogaa keessa babadhattee yoo jiraatte, namichi battii waan te'eef, hayyichi rifeensa booka fakkaatu san ilaalu hin barbaachisu.

³⁷ Te'uu malee, akka ilaalcha hayyichaatiitti madaan sun achumatti hattee, rifeensi guraachi keessatti latee yoo jiraate, madaan sun fayyiteerti. Namichi qulqullu'u; akka inni qulqulluu te'e hayyichi beessisuu ti.

³⁸ «Namichi tokko yookiin dubartiin takka gogaa ifii irratti baarilee adii yoo qabaatane,

³⁹ hayyichi isaan qorqoruu ti; madaan sun babadhattee shankallittii yoo teete, robbii gogaa irratti baate malee ta miituu moti; namichi sun qulqullu'u.

⁴⁰ «Nami tokko rifeensa mataa ifii yoo dhabe, molu'utti isa nyaate; inni qulqullu'u.

⁴¹ Inni rifeensa ifii adda irraa yoo dhabe, molu'utti isa nyaate; inni qulqullu'u.

⁴² Inni moluu ifii irratti yookiin adda ifii irratti madaa diimattee addaattu yoo qabaate, dhukkuba goga'aa farrisiisaa mataa isaa irratti yookiin adda isaa irratti baye.

⁴³ Hayyichi isa qorqoruu ti; mataa isaa irratti yookiin adda isaa irratti madaan diimattee addaattu ta dhukkuba goga'aa farrisiisaa fakkaattu yoo mudhatte,

⁴⁴ nami sun dhukkuba goga'aa farrisiisaa qaba; battiille'e. Inni mataa ifii irraa madaa waan qabuuf, hayyichi akka inni battii te'e beessisuu ti.

⁴⁵ «Nami dhukkuba goga'aa farrisiisaa qabu woyaa tarsaate uffatuu ti; mataa ifii hin filatin; woyaa afaanitti qabatee, «Ani batti'i! Ani batti'i!» jedhaa lallabuu ti.

⁴⁶ Inni haga dhukkuba goga'aa farrisiisaa san qabu batti'i. Inni qofi le'uu ti; addee quttumaatiin ala le'uu ti.

Seera Woyaa Dhukkuba Goga'aa farrisiisa'aan Tuttuqantee

⁴⁷ «Woyaan rifeensa hoole'eetiin yookiin quncee talba'aatiin hujante takka, dhukkuba goga'aa farrisiisa'aan yoo tuttuqante,

⁴⁸ woyaa meya worra woyaa dhowuutiin dhowante yookiin ta harkaan dhowante yookiin ta rifeensa hoole'ee irraa hujante yookiin ta quncee talba'aa irraa hujante yookiin gogaan marti yookiin waan gogaa irraa hujamelle yoo te'e,

⁴⁹ addeen tuttuqante sun magariisottee yookiin diimattee woyaa irratti yookiin waan gogaa irraa hujame irratti yookiin woyaa meya worra woyaa dhowuutiin dhowante irratti yookiin ta harkaan dhowante irratti yookiin meya gogaa irraa hujame mara irratti yoo mudhatte, dhukkuba goga'aa farrisiisaa babadhataa deemu waan te'eef hayyichatti mudhifamuu ti.

⁵⁰ Hayyichi dhukkuba san qorqoree, woyaa dhukkubaan tuttuqante san guyyaa torbaaf qofi baasuu ti.

⁵¹ Guyyaa torbeesso'ootitti ammalle qorqoruu ti; dhukkubi sun woyaa irratti, woyaa meya worra woyaa dhowuutiin dhowante yookiin ta harkaan dhowante irratti, waan gogaa irraa hujame irratti yoo mudhate, dhukkuba goga'aa farrisiisaa hama'a; mey sunille batti'i.

⁵² Hayyichi woyaa yookiin woyaa meya worra woyaa dhowuutiin dhowante yookiin ta harkaan dhowante, Woyaa rifeensa hoole'eetiin yookiin quncee talba'aatiin hujante yookiin meya gogaa irraa hujame mara

ka dhukkuba goga'aa farrisiisa'aan tuttuqame gubuu ti; inni dhukkuba goga'aa farrisiisaa hamaa waan te'eef, mey sun gubamuu ti.

⁵³ «Hayyichi yennaa qorqoru, dhukkubi sun woyaa irratti yookiin woyaa meya worra woyaa dhowuutiin dhowante irratti yookiin ta harkaan dhowante irratti yookiin meya gogaa irraa hujame irratti babadhatee yoo hin jiraanne,

⁵⁴ mey tuttuqame sun akka dhiqamu ajajuu ti. Achiin duuba meya san ammalle guyyaa torbaaf qofi baasuu ti.

⁵⁵ Mey tuttuqame sun dhiqameen duuba hayyichi qorqoruu ti; dhukkubi sun bifa ifii yoo hin jijjiiratin, meya keessa babadhatuu dhabulle, mey sun batti'i; dhukkubi sun meya san gara keessaatiin yookiin gara duubaatiin tuttuqee jiraatulle ibiddaan gubuu ti.

⁵⁶ Mey sun dhiqameen duuba ammoo hayyichi yennaa qorqoru, dhukkubi sun woyaa irraa qooree yoo jiraate, addee dhukkubi tuttuqe san woyaa irraa yookiin waan gogaa irraa hujame irraa yookiin woyaa meya worra woyaa dhowuutiin dhowante yookiin ta harkaan dhowante irraa tarsaasuu ti.

⁵⁷ Dhukkubi sun ammalle woyaa irratti yookiin woyaa meya worra woyaa dhowuutiin dhowante yookiin ta harkaan dhowante irratti yookiin meya gogaa irraa hujame irratti deebi'ee yoo mudhatte, inni dhukkuba babadhataa deemuu waan te'eef, mey dhukkuba goga'aa farrisiisaa qabu sun marti ibiddaan gubamuu ti.

⁵⁸ Woyaan yookiin woyaa meya worra woyaa dhowuutiin dhowante yookiin ta harkaan dhowante yookiin mey gogaa irraa hujame marti dhiqamee irraa badeen duuba deebi'ee dhiqamuu ti; mey sun qulqulluu hin te'a» jedhe.

⁵⁹ Kun seera uffanni rifeensa hoole'ee irraa hujame yookiin woyaan meya worra woyaa dhowuutiin dhowante yookiin ta harkaan dhowante yookiin mey gogaa irraa hujame martille ka dhukkuba goga'aa farrisiisa'aan tuttuqame, dhukkuba goga'aa farrisiisaa irraa akka qulqulloome yookiin battii akka te'e ittiin beekkamu.

14

Seera Dhukkuba Goga'aa Farrisiisaa Irraa Qulqulloomiisaa

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

² «Seerri nama dhukkuba goga'aa farrisiisaa qabu akka aadaa dhugeeffanna'aatitti akka inni qulqulloomuuf gara hayyichaa yennaa fidanuu ka asii gad jiru:

³ Hayyichi addee quttumaatiin alatti bayee nama dhukkuba goga'aa farrisiisaa qabu san qorqoruu ti. Nami sun dhukkuba san irraa fayyee yoo jiraate,

⁴ hayyichi sinbirroota qulqulluu lama ta lubbu'uun jirtu, muka hindheensaa, liilana dhiille'ee fi baala muka hisoophii namicha qulqulleeffamu saniif akka fidanu ajajuu ti.

⁵ Achiin duuba hayyichi sinbirroota san keessaa takkattii, okkotee bisaan maddaa keessa jiru irratti akka qalantu ajajuu ti.

⁶ Achiin duuba sinbirree lubbu'uun jirtu san fuudhee muka hindheensaa, liilana dhiille'ee fi baala muka hisoophii waliin dhiiga sinbirree okkotee bisaan maddaa keessa jiru irratti qalante san keessa cuuphuu ti.

⁷ Dhiiga nama dhukkuba goga'aa farrisiisaa irraa qulqulleeffamu sanitti yennaa torba fiffixee akka inni qulqulluu te'e beessisuu ti. Achii duuba Sinbirree lubbu'uun jirtu san diidatti gad lakkisuu ti.

⁸ «Nami qulqulloome sun woyaa ifii dhiqatuu ti; rifeensa ifii mara haadatee, nafa ifii bisaaniin dhiqatuu ti; achiin duuba inni akka aadaa dhugeeffanna'aatitti qulqulluu hin te'a. Tanaan duuba addee guttumaatitti deebi'uu ti; te'uu malee haga guyyaa torbaa dunkaanii ifiititti adoo hin galin ala turuu ti.

⁹ Guyyaa torbeesso'ootitti ammalle rifeensa ifii mara haadatuu ti; rifeensa mata'aa, ka areeda, ka gaara ilaatii fi ka nafa ifii irraa mara haadatuu ti; woyaa ifii dhiqatee, nafa ifiille bisaaniin dhiqatuu ti; achiin duuba inni qulqulluu hin te'a.

¹⁰ «Guyyaa saddeetesso'oo ammoo buruusoo korbeeyyii hoole'ee lama ta fafa hin qannee fi gorontii hoole'ee buruusoo takkattii ta woggaa tokkoo ta fafa hin qanne dhikeessuu ti; akkasuma kennansa midhaanii bullaa dansaa kiiloogiraama jaa ta zayitii ejersaatiin sukkuumantee fi zayitii ejersaa buttullee tokko* fiduu ti.

¹¹ Hayyichi akka inni qulqulloome beessisu sun namicha qulqulloomuu fi kennansa inni kenne san woliin gara Dunkaanii Woldeenna'aa fuula Mootii Waan maraa dura dhikeessuu ti.

¹² «Achiin duuba hayyichi buruusoo korbeeyyii hoole'ee san keessaa tokko fuudhee, zayitii ejersaa buttullee tokko woliin kennansa sababa yakka'aatiif dhikaatu, kennansa tachoofamu fuula Mootii Waan Maraa dura dhikeessuu ti.

¹³ Inni buruusoo korbeessa hoole'ee san addee woyyittii kennansi araara cubbu'uutii fi kennansi gubamu qalamutti qaluu ti.

¹⁴ Hayyichi dhiiga buruusoo korbeessa hoole'ee ka kennansa sababa yakka'aatiif dhikaatuu san irraa diqqaa isaa fuudhee, qaccee gurra namicha qulqulloomuu san ka gara middaa, quba isaa abguddicha ka harka middichaatii fi quba isaa abguddicha ka miila middichaa dibuu ti.

¹⁵ Hayyichi zayitii ejersaa san irraa diqqoo isi'ii fuudhee barruu harka ifii bitaachaatiitti dhangalaasuu ti;

¹⁶ Quba ifii ka harka middichaa zayitii barruu harka isaa bitaacha keessa jirtu keessa cuuphee yennaa torba Mootii Waan Maraa duratti fifixuu ti.

¹⁷ Zayitii ejersaa ta barruu harka isaa keessatti hatte san qaccee gurra namicha qulqulloomuu san ka gara middaa, quba isaa abguddicha ka harka middichaatii fi quba isaa abguddicha ka miila middichaa dhiiga kennansa sababa yakka'aatiif dhikaatee san irratti dabalee dibuu ti.

¹⁸ Zayitii ejersaa ta barruu harka isaatiitti hatte san hayyichi mataa namicha qulqulloomuu san dibee, Mootii Waan Maraa duratti gumaa isaaf godhuu ti.

¹⁹ «Achiin duuba hayyichi kennansa araara cubbu'uutiif dhikaatu san ciincessee, nama battummaa ifii irraa qulqulloomu saniif gumaa godhuu ti. Saniin duuba horii kennansa gubamuu san qalee,

²⁰ addee ciinca'aa irratti kennansa midhaanii woliin dhikeessee, gumaa isaaf godhuu ti; innille qulqulluu hin te'a.

²¹ «Te'uu malee, nami sun hiyyeessa te'ee waan kana dhikeessuu yoo dadhabe, cubbuu ifitiif gumaa godhiisaaf, kennansa tachoofamu ka sababa yakka'aatiif dhikaatu buruusoo korbeessa hoole'ee tokko fuudhee, kennansa midhaanii bullaa dansaa zayitii ejersaatiin sukkuumante kiiloo lama, zayitii ejersaa buttullee tokko woliin fiduu ti.

* **14:10** *Buttullee tokko:* Buttulleen tokko kun litirii tokko keessaa harka tokko hin te'a.

²² Akkasuma saphaliisa lama yookiin maddoo lama keessaa ka dande'u, takkattii kennansa araara cubbu'uutiif, takkattii kennansa gubamuuf dhi-keessuu ti.

²³ «Isaan kana guyyaa saddeetesso'oo qulqulloomiisa ifitiif seensuma Dunkaanii Woldeenna'aatitti fuula kiyya duratti gara hayyichaa fiduu ti.

²⁴ Hayyichi buruusoo korbeessa hoole'ee ka sababa yakka'aatiif dhikaatu san fuudhee, zayitii ejersaa buttullee tokko woliin kennansa tachoofamu ana Mootii Waan Maraa dura dhikeessuu ti.

²⁵ Inni buruusoo korbeessa hoole'ee ka sababa yakka'aatiif dhikaate san qalee, dhiiga isaa irraa diqqaa isaa fuudhee, qaccee gurra namicha qulqulloomuu san ka gara middaa, quba isaa abguddicha ka harka middichaatii fi quba isaa abguddicha ka miila middichaa dibuu ti.

²⁶ Hayyichi zayitii ejersaa san irraa diqqoo isi'ii fuudhee barruu harka ifii bitaachaattitti dhangalaasuu ti.

²⁷ Quba ifii ka harka middichaatiin barruu harka ifii keessaa zayitii ejersaa san diqqoo isi'ii yennaa torba ana Mootii Waan Maraa duratti fiffixuu ti.

²⁸ Zayitii ejersaa diqqoo ta barruu harka isaa keessa jirtu san irraa diqqoo isi'ii adduma dhiiga horii sababa yakka'aatiif dhikaate dibe san, qaccee gurra namicha qulqulloomuu san ka gara middaa, quba isaa abguddicha ka harka middichaatii fi quba isaa abguddicha ka miila middichaa itti dabalee dibuu ti.

²⁹ Hayyichi zayitii ejersaa ta barruu harka isaattitti hatte, gumaa cubbu'uu isaaf tolchiisaaf, ana Mootii Waan Maraa duratti, mataa namicha qulqulloomu saniititti dibuu ti.

³⁰ Achiin duuba inni saphaliisa yookiin maddoo namichi fiduu dande'e san ciincessuu ti.

³¹ Takkattii kennansa araara cubbu'uutiif taan ammoo kennansa gubamuuf, kennansa midhaanii woliin dhikeessuu ti. Akka kanaan hayyichi namicha qulqulloomu saniif fuula ana Mootii Waan Maraa duratti gumaa hin tolcha» jedhe.

³² Kun Seera nama dhukkuba farrisiisa'aan qabamee, hiyyeessa waan te'eef, ittiin qulqulloomiisaaf, kennansa barbaachisaa te'e kennuu dadhabee ti.

Dhukkuba Goga'aa Farrisiisaa Mana Keessaa Irraa Akka Ittiin Qulqulloomanu

³³ Mootiin Waan Maraa Muuse'ee fi Aaroniin,

³⁴ «Lafa kana'aanii, ta ani qooda keessan godhee isiniif kennu sanitti yenna galтану, ani mana lafa sanii tokko keessatti dhukkuba goga'aa farrisiisaa yoo buuse,

³⁵ abbaan mana sanii gara hayyichaa dhaqee, «Waan dhukkuba goga'aa farrisiisaa fakkaatu mana kiyya keessatti dhaggeera» jedhee hayyichatti himuu ti.

³⁶ Hayyichi mana san dhaqee dhukkuba goga'aa farrisiisaa san adoo hin qorqoriniin dura, meyya mana san keessa jiru marti akka hin battoonne, mana keessaa akka gad baasanu ajajuu ti; achiin duuba hayyichi mana san seenee qorqoruu ti.

³⁷ Hayyichi dhukkuba goga'aa farrisiisaa san dhaaba manaa irra qorqoruu ti; wonni bifa magariisaa yookiin diintuun dhaaba mana dhaka'aa boollessitee yoo dhaggante,

³⁸ Hayyichi mana keessaa bayee guyyaa torbaaf mana san cufuu ti.

³⁹ Guyyaa torbeesso'ootitti hayyichi deebi'ee mana san qorqoruu ti; dhukkubi sun dhaaba mana dhaka'aa irra faffaca'ee yoo jiraate,

⁴⁰ hayyichi dhakaan dhukkubi goga'aa farrisiisaan irratti dhaggame sun hoqonqolamee bayee qacha'aan alatti addee batti'itti akka gatamu ajajuu ti.

⁴¹ Saniin duuba inni dhaaba mana dhaka'aa san mara gara keessaatiin irraa duguugee, waan irraa hoqooqame san qacha'aan alatti addee batti'itti akka gatamu godhuu ti.

⁴² Achiin duuba dhakaa dhibii fidanee addee dhakaa kaan baasanetti keyanee, faara haareyaan dhoobbanuu ti.

⁴³ «Dhakaan keessaa bayee, dhaabi mana dhaka'aa sun hoqooqamee dhoob-bameen duuba dhukkubi deebi'ee mana keessatti yoo mudhate,

⁴⁴ hayyichi dhaqee qorqoruu ti; dhukkubi sun mana keessa faffaca'ee yoo jiraate, dhukkuba goga'aa farrisiisaa hama'a; manni sunille batti'i.

⁴⁵ Manni sun diigamee, dhakaan isaa, muki isaa, faarri isaa ka itti dhoob-bame marti qacha'aan alatti addee batti'itti gatamanuu ti.

⁴⁶ Manni sun cufameeruun nami tokko keessa yoo seene, nami sun haga galgalaatitti battii hin te'a.

⁴⁷ Nami mana san keessa rafe yookiin keessatti nyaate woyaa ifii dhiqatuu ti.

⁴⁸ «Manni sun dhoobbameen duuba hayyichi dhufee yoo qorqoru ammoo, dhukkubi goga'aa farrisiisaan sun mana san keessa faffaca'ee yoo hin jiraatin, dhukkubi sun waan badeeruuf, manni sun qulqulluu akka te'e hayyichi beessisuu ti.

⁴⁹ Mana san qulqulloonsiisaaf, inni sinbirree lama, muka hindheensaa, liilana dhiille'ee fi baala hisoophii dhikeessuu ti.

⁵⁰ Sinbirroota san keessaa takkattii okkotee bisaan maddaa keessa jiru irratti qaluu ti.

⁵¹ Achiin duuba muka hindheensaa, baala muka hisoophii, liilana dhiille'ee fi sinbirree lubbu'uun jirtu san fuudhee, dhiiga sinbirree qalanteetii fi bisaan maddaa ka okkotee keessa jiru san keessa cuuphee mana sanitti yennaa torba fiffixuu ti.

⁵² Inni dhiiga simbirre'eetiin, bisaan maddaatiin, sinbirree lubbu'uun jirtuun, muka hindheensaatiin, baala muka hisoophiitii fi liilana dhiille'een mana san qulqulloonsuu ti.

⁵³ Achiin duuba inni sinbirree lubbu'uun jirtu san qacha'aan alatti diidatti gad lakkisuu ti. Akka kanaan inni mana saniif gumaa tolchee, manni sun qulqulluu hin te'a» jedhe.

⁵⁴ Seerri kun seera dhukkuba goga'aa farrisiisa'aa, dhukkuba citto'oo,

⁵⁵ dhukkuba goga'aa farrisiisaa ka woyaa keessaa yookiin ka mana keessaa,

⁵⁶ ka iitaa, ka robbi'ii yookiin ka baarile'ee ti.

⁵⁷ Wonni tokko qulqulluu akka te'e yookiin qulqulluu akka hinte'in isaan kanaan beekkama.

Seerri kun seera marroo dhukkuba gosa kana maraa ti.

15

Dhukkuba Copha'aa Ka Nama Batteessu

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'ee fi Aaroniin,

² «Kolbaa Israa'eliitiin, «Nami nafa hilaa isaa keessaa woy dhangala'u, wonni dhangala'u sun batti'i.

³ Nafa hilaa isaa keessaa wonni dhangala'u sun ittuma fufee yoo dhangala'e yookiin dhangala'iisa yoo lakkiselle nami sun batti'i; wonni isa keessaa dhangala'u sun akki ittiin battummaa fiddu:

⁴ « Taqueen nami nafa hilaa isaa keessaa woy dhangala'u irra irkate marti battii hin teeti; wonni inni irra te'e martille hin battootti.

⁵ Nami taqee isaa tuqe marti woyaa ifii dhiqatuu ti; nafa ifille bisaaniin dhiqatuu ti; garuu haga galgalaatitti battii hin te'a.

⁶ Waan nami nafa hilaa ka isaa keessaa woy dhangala'u irra tee'e irra nami tee'e marti woyaa ifii dhiqatuu ti; nafa ifille bisaaniin dhiqatuu ti; garuu haga galgalaatitti battii hin te'a.

⁷ Nama nafa hilaa isaa keessaa woy dhangala'u nami tuqe marti woyaa ifii dhiqatuu ti; nafa ifille bisaaniin dhiqatuu ti; garuu haga galgalaatitti battii hin te'a.

⁸ Nami nafa hilaa isaa keessaa woy dhangala'u nama qulqulluu tokkotti yoo tufe, nami inni itti tufe sun woyaa ifii dhiqatuu ti; nafa ifille dhiqatuu ti; garuu haga galgalaatitti battii hin te'a.

⁹ Kooraan nami nafa hilaa isaa keessa woy dhangala'u irra tee'e marti battii hin te'a.

¹⁰ Waan nama san jala jiru mara nami tuqe marti haga galgalaatitti battii hin te'a; waan nami sun irra tee'e mara nami fuudhe woyaa ifii dhiqatuu ti; nafa ifille bisaaniin dhiqatuu ti; Garuu haga galgalaatitti battii hin te'a.

¹¹ Nami nafa hilaa isaa keessaa woy dhangala'u harkaa ifii adoo hin dhiqatin nama tokko yoo tuqe, nami inni tuqe sun woyaa ifii dhiqatuu ti; nafa ifille bisaaniin dhiqatuu ti; garuu haga galgalaatitti battii hin te'a.

¹² Okkoteen nami nafa hilaa isaa keessaa woy dhangala'u tuqe cadduu ti; meya muka irraa hujame yoo te'e bisaaniin dhiqamuu ti.

¹³ « Nami waan nafa hilaa isaa keessaa dhangala'u irraa yennaa qulqulloome, akka aadaa dhugeeffanna'aatitti guyyaa torba eegatuu ti; woyaa ifii dhiqatee, nafa ifille bisaan maddaatiin dhiqatuu ti; inni qulqulluu hin te'a.

¹⁴ Guyyaa saddeetesootitti saphaliisa lama yookiin maddoo lama fidee, seensuma Dunkaanii Woldeenna'aatitti ana Mootii Waan Maraa dura dhufee hayyichatti kennuu ti.

¹⁵ Hayyichille isaan keessaa takkattii kennansa araara cubbu'uutiif, taan ammoo kennansa gubamuuf dhikeessuu ti; akka kanaan sababa waan nafa hilaa isaa keessaa dhangala'u saniitiif fuula ana Mootii Waan Maraa duratti namicha saniif gumaa tolchuu ti.

¹⁶ « Nama tokko bisaan sanyi'ii isa keessaa yoo dhangala'e, nafa ifi mara bisaaniin dhiqatuu ti; garuu haga galgalaatitti battii hin te'a.

¹⁷ Woyaan yookiin wonni gogaa irraa hujame ta bisaan sanyi'ii tuqe sun marti bisaaniin dhiqantuu ti; garuu haga galgalaatitti battii hin teeti.

¹⁸ Nami tokko dubartii waliin rafee, bisaan isaa ka sanyii te'u isa keessaa yennaa dhangala'e, isaan lamaanuu nafa ifi bisaaniin dhiqatanuu ti; garuu haga galgalaatitti battii hin te'an.

¹⁹ « Dubartii takka xuriin yoo dhutte, battummaan isi'ii ta xuri'ii haga guyyaa torbaa hin turti; nami isii tuqelle haga galgalaatitti battii hin te'a.

²⁰ Yennaa xuriin isi'ii dhutteertu, wonni isiin irra irkate yookiin irra teette marti battii hin te'a.

²¹ Nami taqee isi'ii tuqe marti, woyaa ifitii fi nafa ifi bisaaniin dhiqatuu ti; garuu haga galgalaatitti battii hin te'a.

²² Nami waan isiin irra teete irra te'ee woyaa ifitii fi nafa ifi bisaaniin dhiqatuu ti; garuu haga galgalaatitti battii hin te'a.

²³ Taqee isi'ii yookiin waan isiin irra teette mara nami tuqe haga galgalaatitti battii hin te'a.

²⁴ Nami tokko isii waliin rafee xuriin isi'ii sun yoo isa tuxxe, inni haga guyyaa torbaa battii hin te'a; taqeen inni irra irkate marti battii hin teeti.

²⁵ « «Dubartii takka yennaa xuriin isi'ii ta ji'uma ji'aan dhuttu irra dabartee dhiigi isii irraa guyyaa hedduu yoo jige yookiin xuriin isi'ii dabarteen duuba dhiigi isii irraa jigu sun yoo hin lakkisin, akkuma yennaa xurii isi'ii san, haga dhiigi sun dhaabbatu battii hin teeti.

²⁶ Akkuma yennaa xuriin isi'ii ji'uma ji'aan dhutteertu sanii, yennaa dhiigi isii irraa jigiisa hin lakkisin mara, tageen isiin irra irkate marti yookiin wonni isiin irra teette marti battii hin te'a.

²⁷ Nami waan san tuqe marti battii hin te'a; inni woyaa ifitii fi nafa ifii bisaaniin dhiqatuu ti; garuu haga galgalaatitti battii hin te'a.

²⁸ « «Dhiigi isii irraa jigu sun yennaa dhaabbate, guyyaa torba eegattuu ti; saniin duuba akka aadaa dhugeeffanna'aatitti qulqulluu hin teeti.

²⁹ Guyyaa saddeetesso'ootitti saphaliisa lama yookiin maddoo lama fiddee seensuma Dunkaanii Woldeenna'aatitti hayyichatti kennituu ti.

³⁰ Hayyichi isaan keessaa takkattii kennansa araara cubbu'uutiif, taan kennansa gubamuuf dhikeessuu ti. Akka kanaan battummaa dhiiga isii irraa jigu saniif fuula ana Mootii Waan Maraa duratti gumaa isi'iif hin tolcha.

³¹ « «Kolbaan Israa'elii Dunkaanii Woldeenna'aa tiyya ta odduu isaanii jirtu san akka hin batteessine, battummaa ifiille'een akka hin duune, isin waan isaan batteessu irraa adda isaan baasa'a» jedha'a» jedhe.

³² Seerri nama nafa hilaa isaa keessaa woy dhangala'uuf yookiin nama bisaan isaa ka sanyii te'u keessaa dhangala'uuf,

³³ dubartii xuriin isi'ii dhutteertuuf, dhiira yookiin dubartii woy keessaa dhangala'uuf, dhiira dubartii akka aadaa dhugeeffanna'aatitti battootteertu woliin rafuuf kenname kana.

16

Guyyaa Gumaa Cubbu'uu

¹ Ilmaan Aaronii lamaan Mootii Waan Mara dura dhikaatanee du'aneen duuba, Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

² «Ani qadaaddaa addee gumaan araara cubbu'uu irra keyamu irratti duumensaan waan mudhadhuuf, obboleessi keeti Aaron gara addee irra caalaa woyyitti'ii ta gollaa keessa, qadaaddaa addee gumaan araara cubbu'uu irra keyamu ka Saanduqa Gondooro'oo irra jiru san dura yennaa ifii barbaade mara akka hin seenne itti himi. Inni ajaja kana yoo hin muummessin hin du'a.

³ Inni gara addee irraa caalaa woyyitti'ii adoo hin seeniniin dura kennansa araara cubbu'uutiif dardara tokko, kennansa gubamuuf, korbeessa hoole'ee tokko dhikeessuu ti.

⁴ «Inni qoloo haga miilaa dheerattu woyyittii quncee talba'aa irraa hujante lukee nafa isaatitti aantu ta quncee talba'aa irraa hujante woliin uffatuu ti; hiituu quncee talbaa irraa hujante hidhatee, marata mata'aa ka quncee talba'aa irraa hujame mata'atti maratuu ti. Isaan kun uffana woyyoomane waan te'aneef, inni nafa ifii dhiqatee uffatuu ti.

⁵ Inni korbeeyyii re'e'ee lama kennansa araara cubbu'uutiif, korbeessa hoole'ee tokko kennansa gubamuuf, kolbaa Israa'elii irraa fuudhuu ti.

⁶ «Aaronille kennansa araara cubbuu ifiitiif dardara dhikeesse san, ifii fi maatii ifiitiif gumaa cubbu'uu tolchuu ti.

⁷ Achiin duuba inni korbeeyyii re'e'ee san lamaanuu fuudhee seensuma Dunkaanii Woldeenna'aatitti fuula ana Mootii Waan Maraa dura dhikeessuu ti.

⁸ Aaron korbeeyyii re'e'ee lamaan san tokko ana Mootii Waan Maraatiif kenniisaaf, kaan gad lakkisiisaaf hixaa buusuu ti.

⁹ Inni korbeessa ana Mootii Waan Maraatiif hixaan itti bu'e san fidee kennansa araara cubbu'uutiif ciincessuu ti.

¹⁰ Korbeessa cubbuu kolba'aatiif gumaa tolchiisaaf goomole'etti akka gad lakkifamu hixaan itti bu'e san ammoo ana Mootii Waan Maraa dura lubbu'uun dhikeessuu ti.

¹¹ «Aaron dardara kennansa araara cubbuu ifitiif dhikaatu san dhikeessee, ifii fi maatii ifitiif gumaa tolchiisaaf qaluu ti.

¹² Addee ciinca'aa ta fuula kiyya dura jirtu san irraa kashila girigiraa guutu'uu fi hixaana bulleeffame ka uddaa dansaa qabu ooboo lama fuudhee, gara addee irra caalaa woyyitti'ii geessuu ti.

¹³ Hixaana san ana Mootii Waan Maraa duratti ibiddatti naquu ti. Akka inni hin duuneef, aarri hixaana sanii qadaaddaa addee gumaan araara cubbu'uu irra keyamu ta Saanduqa Gondooro'oo irra jirtu san hin golla.

¹⁴ Inni dhiiga dardaraa san irraa diqqaa isaa fuudhee quba ifitiin qadaaddaa gumaa cubbu'uu gubba'atti gara duraatiin itti fiffixuu ti; achiin duuba dhiiga san diqqaa isaa qadaaddaa gumaa cubbu'uu san duratti yennaa torba fiffixuu ti.

¹⁵ «Achiin duuba inni korbeessa re'e'ee san araara cubbuu kolba'aatiif qaluu ti; dhiiga isaalle gara addee irra caalaa woyyitti'ii ta gollaa keessaa geessee akkuma dhiiga dardaraa godhe san qadaaddaa gumaan araara cubbu'uu gubba'atti fiffixuu ti; qadaaddaa araara cubbu'uu san duralle'etti fiffixuu ti.

¹⁶ Akka kanaan inni sababa battummaa, finqilaa fi cubbuu Israa'elootaa maraatiif addeen irra caalaa woyyitti'ii akka hin battoonne gumaa araara cubbu'uu hin tolcha; Dunkaanii Woldeenna'aa ta odduu isaanii battummaa isaanii wodhakkaa jirtulle akkasuma hin godha.

¹⁷ Yennaa Aaron addee woyyittii keessatti gumaa cubbu'uu tolchiisaaf, Dunkaanii Woldeenna'aa seenu, haga inni ifiif, maatii ifitii fi kolbaa Israa'elii duudi'iif gumaa cubbu'uu tolchee gad bayutti, nami tokkole Dunkaanii Woldeenna'aa keessa hin jiraatin.

¹⁸ «Achiin duuba inni gara addee ciinca'aa ta fuula kiyya dura jirtuu gad bayee, gumaa cubbu'uu isi'iif tolchuu ti; dhiiga dardaraatii fi korbeessa re'e'ee san irraa diqqaa isaa fuudhee gaafota addee ciinca'aa san mara dibuu ti.

¹⁹ Dhiiga san irraa diqqaa isaa fuudhee quba ifitiin yennaa torbaa addee ciinca'aa irratti fiffixee, battummaa kolbaa Israa'elii irraa adda baasee, addee ciinca'aa san qulqulleessuu ti.

²⁰ «Aaron addee irra caalaa woyyitti'iif, Dunkaanii Woldeenna'aatiif, addee ciinca'aatiifille gumaa cubbu'uu tolchee fixeen duuba, korbeessa re'e'ee ka lubbu'uun jiru san dhikeessuu ti.

²¹ Inni harka ifii lamaanuu mataa korbeessa re'e'ee ka lubbu'uun jiruu san irra keyee, hammeennaa fi finqila, cubbuu Israa'elootaa mara faaci'ee mataa korbeessa sanii irra keyuu ti. Achiin duuba Aaron korbeessa san gad lakkisee nami hujii tanaaf filame gara lafa goomole'ee geessa.

²² Korbeessi sun cubbuu isaanii mara ba'atee gara lafa goomole'ee deema; namichille korbeessa san lafa nami keessa le'uu hin dandeenne goomolee keessatti gad hin lakkisa.

²³ «Achiin duuba Aaron gara Dunkaanii Woldeenna'aa seenee, woyaa quncee talba'aa irraa hujante ta yennaa addee irra caalaa woyyitti'ii seenu uffatu san ifi irraa baafatee achitti lakkisuu ti.

²⁴ Addee woyyittii sanitti nafa ifi bisaaniin dhigatee woyaa ifi uffatuu ti. Achiin duuba gad bayee gumaa cubbuu ifi tolchiisaaf kennansa

gubamu dhikeessuu ti; kolba'aatiifille gumaa cubbu'uu tolchiisaaf, kennansa gubamu dhikeessuu ti.

²⁵ Cooma horii kennansa araara cubbu'uutiif dhikaatee san addee ciinca'aa irratti gubuu ti.

²⁶ «Namichi korbeessa re'e'ee san lafa goomole'ee geesssee gad lakkise sun woyaa ifitii fi nafa ifii dhiqateen duuba gara addee quttumaa seenuu hin dande'a.

²⁷ Dardarii fi korbeessi re'e'ee ka kennansa araara cubbu'uutiif dhikaatane, ka dhiigi isaanii gumaa cubbu'uu tolchiisaaf addee irra caalaa woyyitti'ii seene sun, gogaan, foonii fi cumaan isaanii addee quttumaatiin alatti gad baasanee gubanu ti.

²⁸ Namichi isaan kana gube woyaa ifitii fi nafa ifii dhiqatuu qaba; achiin duuba gara addee quttumaa seenuu hin dande'a.

Guyyaa Gumaa Cubbu'uu Ulfeessiisa

²⁹ «Seerati bara baraa ka isiniif kenname ka asii gad jiru: ji'a torbeesso'oo guyyaa kudhaneesso'ootitti, Israa'elootii fi nami ormaa ka isaan keessa jiru marti ifi gad qabuu ti; hujii tokkolle hin hujin.

³⁰ Guyyaa kanatti isin qulqulleessiisaaf gumaan araara cubbu'uu waan tolfamuuf, isin ana Mootii Waan Maraa duratti cubbuu teessan mara irraa hin qulqulloontan.

³¹ Kun Sanbata guyyaa foora ti; ifi gad qaba'a; kun seerata bara baraa ti.

³² Hayyichi muudamee addee abbaa ifititti hayyicha guddaa te'e sun qoloo woyyittii quncee talba'aa irraa hujante uffatee gumaa cubbu'uu tolchuu ti.

³³ Addee irra caalaa woyyittii, Dunkaanii Woldeenna'aa, addee ciinca'aatiif, hayyootaa fi kolbaa maraafille gumaa cubbu'uu tolchuu ti.

³⁴ Kun seerata bara baraa ka wogga'atti yennaa tokko cubbuu kolbaa Israa'eliitiif gumaa tolchitanu isiniif te'uu ti» jedhe.

Tunille akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajaje hujante.

17

Addee Ciincaa Itti Dhikeessanu

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

² «Ati Aaronii fi ilmaan isaatitti, Israa'eloota maralle'etti, waan ani Mootiin Waan Maraa ajaje kana himi!

³ Isaaniin, «Israa'elootaa keessaa nami addee quttumaatitti yookiin addee quttumaatiin alatti dardara, buruusoo korbeessa hoole'ee yookiin re'e'ee qalee,

⁴ fuula Dunkaanii Woyyittii tiyyaa duratti ana Mootii Waan Maraatiif kennansa gara seensuma Dunkaanii Woldeenna'aa yoo hin fidin, nami sun yakkaan dhiiga dhangalaasiisaa itti muramuu ti; inni dhiiga waan dhangalaaseef kolbaa ifi keessaa bawuu ti.

⁵ Tanaaf kolbaan Israa'elii ciincaa diida keessatti Mootii Waan Maraatiif dhikeessite seensuma Dunkaanii Woldeenna'aa duratti gara hayyichaa fiddi; kennansa dhikaate san hayyichi kennansa tokkumma'aa godhee Mootii Waan Maraatiif dhikeessa.

⁶ Hayyichi dhiiga san addee ciinca'aa ta seensuma Dunkaanii Woldenna'aa duraatitti fiffixuu ti; cooma san ka foolee dansaa qabu, ka Mootii Waan Maraa gammachiisu godhee gubuu ti.

⁷ Haganaa achi kolbaan Israa'elii Mootii Waan Maraatiif addatamuu lakkittee, waaqota dharaa ka fakkii re'e'ee waaqonfatiisaan sagaagaltee, ciincaa hin dhikeessin; kun dhaloota dhufu mara keessatti seerata bara baraa isaaniif te'uu ti» jedhi.

⁸ «Ati isaaniin, «Isin Israa'eloota keessaa yookiin nama ormaa ka isin odduu jiru keessaa nami kennansa gubamu yookiin ciincaa dhibii dhikeessu tokko,
⁹ Mootii Waan Maraatiif ciincaa gara seensuma Dunkaanii Woldeenna'aa yoo hin fidin kolbaa ifii keessaa bawuu ti.

Seera Marroo Dhiigaa

¹⁰ « «Isin Israa'eloota keessaa yookiin orma isin odduu jiru keessaa nami tokko dhiiga yoo une yookiin foon dhiiga qabu yoo nyaate, ani diina itti hin te'a; nama san kolbaa keessaa hin baasa» jedhi.

¹¹ Lubbuun dada maraa dhiiga keessa waan jirtuuf, gumaa lubbu'uulle ka te'u dhiiga waan te'eef, addee ciinca'aa irratti gumaa lubbuu teessanii akka te'u ani Mootiin Waan Maraa dhiiga isiniif kenneera.

¹² Tanaaf ani, «Isin kolbaan Israa'elii dhiiga hin unina'a; ormi isin odduu le'ulle dhiiga hin unin» jedhe.

¹³ «Isin Israa'eloota keessaa yookiin orma isin odduu jiru keessaa nami tokko bineensa yookiin sinbirree nyaatamanu mara keessaa adansee yoo qabate dhiiga keessaa jisee biyye'een golluu ti.

¹⁴ Lubbuun dada maraa dhiiga keessa waan jirtuuf, ani kolbaa Israa'eliitiin, «Dhiiga dada maraa hin unina'a; nami dhiiga san unu marti kolbaa ifii keessaa bawuu ti.

¹⁵ « «Isin Israa'eloota keessa yookiin orma isin odduu jiru keessaa foon waan ifiin du'ee yookiin ka bineensi dhibiin qabee ijeese nami nyaate, woyaa ifii dhiqatuu ti; nafa ifille dhiqatuu ti; garuu akka aadaa dhugeeffanna'aatitti haga galgalaa battii hin te'a; achiin duuba inni qulqulluu hin te'a.

¹⁶ Woyaa ifitii fi nafa ifille bisaaniin yoo hin dhiqatin yakkaa ifitiif itti hin gaafatama» jedhi» jedhe.

18

Wol Bira Geyiisa Dhooggame

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

² «Kolbaa Israa'eliitiin, «Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan;

³ Waan worri biyya Gibxi'ii ta keessa leetane huju hin hujina'a; waan worri lafa kana'aanii ta ani amma itti isin galchu hujanulle hin hujina'a; aadaa isaaniille hin hordofina'a.

⁴ Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan; seera kiyyaaf ajajama'a; seerata kiyyalle ifi eegadha'aa hordofa'a.

⁵ Ani Mootii Waan Maraa ti; seerataa fi seera kiyya nami eegate lubbu'uun waan jiraatuuf isaan kana eegadha'a.

⁶ « «Ani Mootii Waan Maraa ti; eennulle dubartii fira ifii bira geyiisaaf woliin hin rafin.

⁷ Ati haadha teeti woliin rattee bira geetee abbaa keeti hin salphisin; isiin haadha teeti waan teeteef isii bira hin geyin.

⁸ Niitii abbaa keetii bira geyiisaan abbaa keeti hin salphisin.

⁹ Obboleettii teeti bira geyiisaaf woliin hin rafin; intala abbaan keeti dubartii dhibii irraa uumate yookiin haati teeti nama dhibi'ii deette bira geyiisaaf woliin hin rafin.

¹⁰ Ati akka hin salphanneef, intala ilma keetii yookiin intala intala teetii bira hin geyin.

¹¹ Obboleettii teeti waan teeteef, intala abbaa keetii ta masaanuu haadha teetii bira hin geyin.

¹² Fira abbaa keetii waan teeteef, adaadaa teeti bira hin geyin.

- ¹³ Fira haadha teetii waan teeteef, obboleettii haadha* teetii bira hin geyin.
- ¹⁴ Haadiqqoo teeti waan teeteef, niitii obboleessa abbaa keetii bira hin geyin.
- ¹⁵ Niitii ilma keetii waan teeteef, niitii ilma keetii bira hin geyin.
- ¹⁶ Wosoo teeti waan teeteef niitii obboleessa keetii bira hin geyin.
- ¹⁷ Ati dubartii takka bira yoo geette, fira isi'ii waan te'aneef, intala isi'ii yookiin intala ilma isi'ii yookiin intala intala isi'ii bira hin geyin; tun waan hantu'u.
- ¹⁸ Haga niitiin teeti lubbu'uun jirtu obboleettii isi'ii fuutee masaanuu isi'ii hin tolchin; isii biralle hin geyin.
- ¹⁹ « «Dubartii xuriin dhuttee battootteertu bira hin geyin.
- ²⁰ Niitii nama dhibi'ii bira geettee ifi hin batteessin.
- ²¹ Ani Mootii Waan Maraa ti; ijoollee teeti keessaa tokkolle waaqa dharaa Moleekiif, ciincaa tolchiisaaf dabarsitee kennitee, maqaa Waaqa keetii hin batteessin.
- ²² Waan battii waan te'eef, akka dubartii bira geettu dhiira bira hin geyin.
- ²³ « «Waan battii waan te'eef, bineensaa fi horii bira geettee ifi hin batteessin; dubartiille horii bira hin geyin.
- ²⁴ « «Isinille waan kana keessaa tokkolle'een ifi hin batteessina'a; kolbaan gosa adda addaa ta ani isin duraa oofee baasu waan kanaan waan battoot-teertuuf,
- ²⁵ lattille battootte; anille cubbuu isi'iitiif isii adabe; lattille worra isii keessa le'u tutte.
- ²⁶ Isin ammoo seerataa fi seera kiyya eeggadha'a; isin dhalataan biyyaa yookiin nami ormaa ka odduu teessan le'u waan battii tana hin hujina'a.
- ²⁷ Worri isiniin dura lafa san keessa le'u waan battii tana waan hujeeff, latti sun battootteerti.
- ²⁸ Latti akkuma gosa biyya adda addaa ta isiniin duraa tutte, yoo isin isii batteessitane, isnille hin tutti.
- ²⁹ Nami waan battii tana hujee marti kolbaa ifii keessaa bawuu ti.
- ³⁰ « «Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan; ajaja kiyya eeggadha'a; waan battii worri isiniin dura lafa san keessa le'u hujee keessaa waan tokkolle hin hujina'a; hujii tanalle'een ifi hin batteessina'a» jedhi» jedhe.

19

Seera Adda Addaa

- ¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,
- ² «Kolbaa Israa'elii duudi'iin, «Ani Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan woyyicha waan te'eef, isinille woyyuu te'a'a.
- ³ Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan; isin marti abba'aa fi haadha teessaniif ulfinna kenna'a; guyyaa Sanbataa kiyya eeggadha'a.
- ⁴ « «Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan; isin gara waaqota dharaa hin deebi'ina'a yookiin waan baqisiifamu irraa waaqota dharaa hin hujatina'a.
- ⁵ « «Kennansa tokkumma'aa ana Mootii Waan Maraatiif ciinnessiisaaf yennaa dhikeessitanu, akka fudhatama qabaatutti dhikeessa'a.
- ⁶ Ciincaan sun guyyuma isin dhikeessitane san yookiin guyyaa itti aanu nyaatamuu ti; ka irraa hafee haga guyyaa sadii geye gubamuu ti.
- ⁷ Guyyaa sadeesso'ootitti yoo nyaatane, battii waan te'eef, ciincaan sun fudhatama hin qabu.
- ⁸ Nami isa nyaate waan Mootii Waan Maraatiif woyyoome waan batteesseef, itti hin gaafatama; nami sun kolbaa ifii keessaa bawuu ti.

* **18:13** *Obboleettii haadhaa:* Lafa tokko tokkotti *lankaamaa* jedhan.

⁹ « «Lafa teessan irraa midhaan yennaa galfattanu, midhaan irga ficha'aa jiru hin haammatina'a yookiin woxoo hin qocatina'a.

¹⁰ Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan; midhaan woyni'ii yennaa wolitti qabattanu, ka damee irratti hafe yookiin ka lafatti harca'e hiyyeessaa fi nama ormaa ka odduu teessan le'uuf lakkisa'a malee, deebitanee woxoo hin qocatina'a.

¹¹ « «Hin hatina'a! Dhara hin dubbatina'a! Wol hin sobina'a!

¹² « «Ani Mootii Waan Maraa ti; maqaa kiyyaan dharaan kakatanee, maqaa kiyya hin batteessina'a.

¹³ Nama hin sobina'a yookiin hin saamina'a; mindaa nama qaxartanee adoo hin kaffalin hin bulchina'a.

¹⁴ Ani Mootii Waan Maraa ti; ana Waaqa keeti sodaadhu malee, nama gurra duuda'aa hin abaarina'a yookiin nama ballaa dura gufuu hin keyina'a.

¹⁵ « «Haqa hin dassina'a; nama maraaf muraa dhuga'aa kenna'a malee, hiyyummaa isaa ilaaltanee hiyyeessaaf hin golina'a; dureessalle durummaa isaatiif ulfinna hin kennina'a.

¹⁶ « «Ani Mootii Waan Maraa ti; kolbaa teessan keessa asii fi achi deemaa hin hamatina'a. Waan lubbuu namaa balleessu tokkolle hin hujina'a.

¹⁷ « «Ati gadhaa keeti keessatti obboleessa keeti hin jibbin; Yakkaa isaatiif gorsa isaaf kenni malee, sababa isaatiif yakkaamessa hin te'in.

¹⁸ Ani Mootii Waan Maraa ti; ati akka ifi jaalattu nama jaaladhu malee, haluu hin bayin, quuqaalle itti hin qabatan.

¹⁹ « «Seera kiyya eegadha'a. Horii gosa gara garaa wol hin dhaggachiisina'a. Sanyii gosa gara garaa lama fichaa tokko keessatti hin facaasina'a. Woyaa waan gosa lamaa irraa dhowante hin uffatina'a.

²⁰ « «Nami tokko garbittii nama dhibi'iif kadhatante yoo woliin rafe, isiin ta wodante yookiin ta bilisa baate yoo hin te'in, itti gaafatamuu ti! Te'uu malee dubartiin sun waan bilisa hin bayiniif isaan hin ijjeefamanu.

²¹ Namichi garuu kennansa sababa yakka'aatiif dhikaatu korbeessa hoole'ee tokko seensuma Dunkaanii Woldeenna'aa duratti ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessuu ti.

²² Hayyichi ammoo korbeessa hoole'ee kennansa sababa yakka'aatiif dhikaate san cubbuu namichi hujeeff, ana Mootii Waan Maraa duratti gumaa tolchuu ti; cubbuu isaatiifille araarri hin kennama.

²³ « «Isin lafa Kana'aaniititti galtanee muka midhaan isaa nyaatanu yennaa dhaabbatane midhaan muka sanii nyaatiis akka dhooggame beeka'a; woggaa sadiif midhaan muka sanii hin nyaatina'a.

²⁴ Woggaa arfeesso'ootitti ammoo midhaan muka sanii marti kennansa galataa ka ana Mootii Waan Maraatiif wooyoome hin te'a.

²⁵ Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan; Woggaa shaneesso'ootitti ammoo midhaan muka sanii nyaadha'a; akka kanaan midhaan isin galfattanu isiniif hin misa.

²⁶ « «Foon dhiigi keessa jiru hin nyaatina'a. Moruu yookiin xanoo hujiisa hin baratina'a.

²⁷ « «Rifeensa mataa keessanii jala hin quxatina'a, areeda keessanille gabaassitanee hin muratina'a.

²⁸ « «Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan; nama du'eef nafa ifi hin ciccirina'a. Nafa keessanille hin naqqafatina'a.

²⁹ « «Latti gara sagaagalumma'aa akka hin deebine yookiin hammeennaan akka hin guutane, intala teeti hin batteessin.

³⁰ « «Ani Mootii Waan Maraa ti; Sanbata kiyya eeggadha'a; addee wooyittii tiyyaaf ulfinna kenna'a.

³¹ « «Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan; isin akka hin battoonneef gara worra ekeraa dubbisuu hin dhaqina'a yookiin moruu hin barbaadatina'a.

³² « «Ani Mootii Waan Maraa ti; Waaqa keeti sodaadhu! Nama guddaa duraa ka'i; jaarsaaf ulfinna kenni.

³³ « «Nami ormaa lafa teessan keessa isin woliin yennaa le'u, isa hin cunqursina'a.

³⁴ Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan; nama ormaa ka isin woliin le'u akkuma nama dhalataa biyya keessaniititti ilaala'a; isinille biyya Gibxi'iititti orma teetanee waan turtaneertanuuf, akkuma ifi jaalattanu isa jaaladha'a.

³⁵ « «Miki'iin*, waan ittiin madaaltanuu fi waan ittiin safartanuu nama hin sobina'a.

³⁶ Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan ka biyya Gibxi'ii keessaa isin baase! Mikii, madaallii, waan ittiin safartanuu fi waan dhangala'u waan ittiin safartanu ka sirrii te'etti fayyadama'a.

³⁷ « «Ani Mootii Waan Maraa ti; seerataa fi seera kiyya mara eeggadha'aatii hordofa'a» jedhi» jedhe.

20

Adabbii Cubbuun Fiddu

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

² «Kolbaa Israa'eliitiin, «Isin keessaa yookiin nama ormaa ka isin woliin le'u keessaa nami tokkole ilmaan ifi keessaa waaqa dharaa Moleekiif ciincaa yoo dhikeesse ijjeefamuu ti; kolbaan Israa'elii marti dhaka'aan isa tuntuu ti.

³ Inni ilmaan ifi keessaa waaqa dharaa Moleekiif kennee, addee woyyittii tiyya batteessee maqaa kiyya woyyichalle waan salphiseef, ani diina itti hin te'a; kolbaa keessalle'ee isa hin baasa.

⁴ Nami sun ilmaan ifi keessaa waaqa dharaa Moleekiif yennaa kennu kolbaan lafa sanii dhaggaa itti lakkittee yoo isa hin ijjeesin,

⁵ ani nama sanii fi maatii isaatitti diina hin te'a; isaa fi worra isa woliin waaqa dharaa Moleek waaqonfatu mara Kolbaa keessaa hin baasa.

⁶ « «Nama naaf addatamuu lakkisee, gara worra ekeraa dubbisuutii fi gara worra moruu dhaqee isaan hordofu, ani diina itti hin te'a; kolbaa keessalle'ee isa baasa.

⁷ Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan waan te'eef, ifi adda baasa'aatii, woyyuu te'a'a.

⁸ Ani Mootii Waan Maraa ka isin woyyoonsu; seerata kiyya eeggadha'aatii, muummessa'a.

⁹ « «Nami tokko abbaa ifi yookiin haadha ifi yoo abaare ijjeefamuu ti; abba'aa fi haadha ifi waan abaareef dhiiga ifitiif isattuu itti gaafatama.

¹⁰ « «Nami tokko niitii nama dhibi'ii yoo gaarayyeffate, namichi gaarayyeffatee fi namittiin inni gaarayyeffate sun isaan lamaanuu ijjeefamanuu ti.

¹¹ Nami tokko niitii abbaa ifi woliin yoo rafe, abbaa ifi waan salphiseef innii fi isille lamaanuu ijjeefamanuu ti; dhiiga ifitiif isaanumatti itti gaafatama.

¹² Nami tokko niitii ilma ifi woliin yoo rafe, kobaa waan te'eef, isaan lamaanuu ijjeefamanuu ti; dhiiga isaaniitiif isaanumatti itti gaafatama.

¹³ Nami tokko akkuma dubartii woliin rafu dhiira yoo damaame isaan lamaanuu waan battii waan hujaneef ijjeefamanuu ti; dhiiga isaaniitiif isaanumatti itti gaafatama.

* **19:35** *Miki'iin*: Mikiin meeshaa haga woyii beekiisaaf itti fayyadamanu.

¹⁴ Nami tokko dubartii takka fuudhee, haadha isi'iille yoo fuudhe, tun waan batti'i. Battummaan akkasii odduu teessan akka hin jiraanne, isaa fi isaan lamaanuu ibiddaan gubamanuu ti.

¹⁵ Nami tokko horii bira yoo geye, ijjeefamuu ti; horii sanille ijjeesa'a.

¹⁶ Dubartiin takka horii woliin yoo ratte, isi'ii fi horii sanille ijjeesa'a; dhiiga isaaniitiif isaanumatti itti gaafatama.

¹⁷ « «Nami tokko obboleettii ifii yookiin intala abbaan isaa dubartii dhibii irraa uumate yookiin intala haati isaa abbaa dhibi'iif deette yoo fuudhe, battii waan teeteef, kolbaa ifii keessaa bayanuu ti; obboleettii ifii waan salphiseef itti hin gaafatama.

¹⁸ Nami tokko dubartii xuriin dhutteertu yoo bira geye, xurii isi'ii waan saaxileef, isiille xurii ifii waan saaxilteef, isaan lamaanuu kolbaa ifii keessaa bayanuu ti.

¹⁹ « «Obboleettii haadha teetii yookiin adaadaa teeti bira hin geyin; tun fira ifii salphisuu waan teeteef isaan lamaanuu itti hin gaafataman.

²⁰ Nami tokko niitii obboleessa abbaa ifii bira yoo geye, inni abbaa diqqaa ifii waan salphiseef, isaan lamaanuu itti hin gaafataman; ijoollee maleelle hin du'an.

²¹ Nami tokko niitii obboleessa ifi yoo fuudhe, tun hujii batti'i; obboleessa ifii waan salphiseef isaan lamaanuu ijoollee malee hin hafan.

²² « «Latti kana'aanii akka isin keessa leetanu ta ani isin itti galchu sun akka isin hin tunne, seerataa fi seera kiyya mara eegadha'aatii muummessa'a.

²³ Isin akka aadaa kolbaa gosa adda addaa ta ani isin duraa ari'ee baasaaru san hin le'ina'a; isaan waan kana waan hujaneef, ani isaan diqadheera.

²⁴ Isin ammoo lafa isaanii hin boojitan; lafa aananii fi dammaa san ani isiniif hin kenna. Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan ka gosa biyya adda addaa keessaa adda isin baase.

²⁵ Tanaaf horii, bineensotaa fi allaatota qulqulluu te'anee fi qulqulluu hin te'in gargar baasa'a; isin horii, bineensotaa fi allaatota yookiin waan lafa irra munyuuqu mara keessaa ta ani akka batti'iititti adda baase saniin ifi hin batteessina'a.

²⁶ Ani Mootiin Waan Maraa woyyicha waan te'eef, isin kiyya akka teetanu gosa biyya adda addaa keessaa waan isin adda baaseef, isinille naaf woyyuu te'a'a.

²⁷ « «Isin keessa dhiirti yookiin dubartiin ekeraa dubbisanu yookiin moruu moranu ijjeefamanuu ti; dhaka'aan tumamanuu ti; dhiiga ifitiif isaanumatti itti gaafatama» jedhi» jedhe.

21

Seera Hayyootaaf Kenname

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Ati ilmaan Aaronii hayyootaan, «Mootiin Waan Maraa: Hayyichi tokko reeffa nama ifii tuqiisaan akka aadaa dhugeeffanna'aatitti ifi hin batteessin.

² Te'uu malee fira ifii ka dhiko'oo abbaa yookiin haadha ifii, ilma ifii yookiin intala ifii, obboleessa ifii

³ yookiin obboleettii ifii ta hin heerumin reeffa isaanii tuqiisaan ifi batteessuu hin dande'a.

⁴ Worra fuudhaa fi heerumaan isa woliin firoomme reeffa isaanii tuqiisaan ifi hin batteessin.

⁵ « «Hayyooti mataa ifii hin haadatin yookiin areeda ifii cinaa hin haadatin yookiin nafa ifiille hin mummurin.

⁶ Isaan kennansa ibiddaan gubamee ana Mootii Waan Maraatiif dhikaatu, sagalee ana Waaqa isaaniitiif dhikaattu hayyoota dhikeessanu waan te'aneef, woyyoomanuu ti; isaan ana Waaqa ifitiif woyyoomanuu ti malee, maqaa kiyya hin batteessin.

⁷ Isaan hayyoota ana Waaqaaf woyyoomane waan te'aneef, dubartii sagaagaltee battootte yookiin dubartii abbaan manaa lakkise hin fuudhin.

⁸ Isaan worra ana Waaqa keetiif sagalee dhikeessanu waan te'aneef, ati isaan akka woyyuu te'anetti laakkow; ani Mootiin Waan Maraa ka isin woyyoonsu woyyuu waan te'eef, isaan woyyoota isiniif te'anuu ti.

⁹ Intalti hayyichaa takka sagaagaltee yoo ifi batteessite, abbaa ifii waan salphitteef ibiddaan gubantuu ti.

¹⁰ «¹⁰ «Hayyichi guddaan ka obboleeyyan ifii keessaa zayitii muudaa mataa isaatitti naqane, ka woyaa hayyumma'aa akka uffatuufille muudame gadda mudhisiisaaf, rifeensa mataa ifii filatiisa hin lakkisin; woyaa ifille hin tarsiisin.

¹¹ Inni addee reeffi jiru hin seenin; addee reeffi abbaa isaa yookiin haadha isaa jiru te'ulle achi seenee ifi hin batteessin.

¹² Ani Mootii Waan Maraa ti; zayitiin muudaa ta ana Waaqa isaa ta inni ittiin woyyoome isa irra waan jirtuuf, addee woyyittii keessaa gad bayee, addee woyyittii ana Waaqa isaa hin batteessin.

¹³ «¹³ «Intalti inni fuudhu ta bantii qaddu teetuu ti;

¹⁴ Inni gosa ifii keessaa intala bantii qaddu fuudhuutii malee, haadha hiyyeessaa, dubartii abbaan manaa lakkise yookiin dubartii sagaagaliisaan battootte hin fuudhin.

¹⁵ Ani Mootii Waan Maraa ka isa woyyoonsu waan te'eef, inni kolbaa ifii keessatti sanyii ifii hin batteessin jedha» jedhiin» jedhe.

¹⁶ Ammalle Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

¹⁷ «Ati Aaroniin, «Mootiin Waan Maraa: Dhalootaa haga dhalootaatitti sanyii teeti keessaa nami fafa qabu kennansa sagale'ee ana Waaqa ifitiif dhikeessiisaaf hin dhufin.

¹⁸ Nami fafa qabu hin dhikaatin. Ballaan yookiin naafi, nami fuula farqu'uu, farri,

¹⁹ nami harka yookiin miila caba'aa,

²⁰ nami xukkeeru yookiin nami qancaraan, nami fafa ilaa qabu yookiin nami dhukkuba goga'aa qabu yookiin nami midhattii tumameeru kennansa sagale'ee hin dhikeessin.

²¹ Sanyii Aaronii hayyichaa keessaa nami fafa qabu kennansa ibiddaan gubamu ana Mootii Waan Maraatiif hin dhikeessin. Inni fafa waan qabuuf, sagalee ana Waaqa ifii dhikeessiisaaf hin dhufin.

²² Nami akkasii sagalee irra caalaa ana Waaqa isaatiif woyyuu teete keessaa tokko teete waan teeteef, sagalee woyyittii san nyaatuu hin dande'a.

²³ Te'uu malee sababa fafa isaatiif, inni addee woyyittii tiyya akka hin batteessine, gara golla'aa hin dhikaatin yookiin gara addee ciinca'aa hin dhikaatin; ka isaan woyyoonsu ana Mootii Waan Maraa ti jedha» jedhiin» jedhe.

²⁴ Maarre Muuseen waan kana Aaronitti, ilmaan isaatii fi kolbaa israa'elii maratti hime.

22

Kennansi Dhikaatu Woyyuu Te'uu Isaa

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

² «Ani Mootii Waan Maraa ti; Aaronii fi ilmaan isaa maqaa kiyya akka hin batteessine, kennansa woyyicha ka kolbaan Israa'elii naaf adda baasane, ulfinnaan akka eegamu itti himi.

³ Isaaniin, «Ani Mootii Waan Maraa ti: Dhalootaa haga dhalootaatitti, sanyii teeti keessaa nami tokko akka aadaa dhugeeffanna'aatitti adoo hin qulqulloomin, kennansa woyyicha kolbaan Israa'elii ana Mootii Waan Maraatiif adda baasanetti yoo dhikaate, nami sun fuula kiyya duraa bawuu ti.

⁴ « «Sanyii Aaronii keessa nami dhukkuba goga'aa farrisiisaa qabu yookiin nami nafa hilaa isaa keessaa woy dhangala'u haga qulqulloomutti kennansa woyyicha san hin nyaatin. Nami waan reeffa tuqee battowe tuqe yookiin nami nafa hilaa isaa keessaa bisaan sanyii te'u dhangala'u,

⁵ yookiin bineensota gadha'aan lafa irra lowanu ka isa batteessu yoo tuqe yookiin nama isa batteessu yoo tuqe, battummaan isaa tamiiyyuu teetulle,

⁶ hayyichi waan akkasii kana tuqe haga galgalaatitti battii hin te'a; nafa ifii bisaaniin haga dhiqatutti sagalee woyyittii san hin nyaatin.

⁷ Yennaa aduun seentu inni qulqulluu hin te'a; achiin duuba sagalee isaa waan teeteef, sagalee woyyittii san nyaatuu ti.

⁸ Ani Mootii Waan Maraa ti; inni akka hin battoonneef, foon waan ifiin du'ee yookiin ka bineensi dhibiin qabee ijjeese hin nyaatin.

⁹ « «Ani Mootii Waan Maraa ka isaan woyyoonsu; hayyooti ajaja kiyya tuffatanee yakkaameyyii akka hin teene, yookiin akka hin duune, ajaja kiyya eegatanuu ti.

¹⁰ « «Maatii hayyichaa malee, keessummaan hayyichaa yookiin hojjataan isaaf qaxaramee huja sagalee woyyittii tana hin nyaatin.

¹¹ Garbichi hayyichi beesee ifitiin bitate yookiin ka mana isaatitti dhalate ammoo sagalee qooda hayyichaa san nyaatuu ti.

¹² Intalti hayyichaa takka nama sanyii hayyichaa hin te'in yoo heerumte, sagalee woyyittii tana hin nyaatin.

¹³ Garuu intalti hayyichaa ijoollee adoo hin deyin dhirsi isi'ii yoo isii lakkise yookiin yoo du'e, isiin akkuma yennaa ijoollummaa ifii gara mana abbaa ifii yoo deebite, sagalee qooda abbaa ifii san nyaatuu hin dandeetti. Te'uu malee nami maatii hayyichaa hin te'in, sagalee san hin nyaatin.

¹⁴ « «Nami maatii hayyichaa hin te'in tokko, adoo hin beekin sagalee woyyittii san yoo nyaate, gatii waan nyaatee san harka shan keessaa harka tokko itti dabalee hayyichaaf deebisuu ti.

¹⁵ Hayyooti sagalee woyyittii ta kolbaan Israa'elii ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessite san hin batteessin.

¹⁶ Ani Mootii Waan Maraa ka isaan woyyoonsu; nami sagalee woyyittii tana nyaatee yakkaa isa adabissiittu akka huja hin godhina'a jedha» jedhiin» jedhe.

Kennansa Fudhatama Hin Qanne

¹⁷ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

¹⁸ «Ati Aaroniin, ilmaa isaatii fi kolbaa Israa'elii maraan, «Mootiin Waan Maraa: Nama Israa'elii yookiin nama ormaa ka Israa'el keessa le'u keessaa, nami tokko waadaa gale yookiin kennansa gubamu fedhii ifitiin ana Mootii Waan Maraatiif yoo dhikeesse,

¹⁹ horiin inni dhikeesse sun fudhatama akka qabaatu korma loonii, kor-beessa hoole'ee yookiin re'e'ee ka fafa hin qanne te'uu ti.

²⁰ Horiin fafa qabu fudhatama waan hin qabaanneef, waan fafa qabu tokkolle hin dhikeessina'a.

²¹ Nami tokko waadaa gale muummessiisaaf yookiin kennansa fedhii ifii kenniisaaf, loon keessaa yookiin hoole'ee fi re'ee keessaa kennansa tokkumma'aa ana Mootii Waan Maraatiif yennaa dhikeessu fudhatama akka qabaatuuf, ka fafa hin qannee fi komii hin qanne te'uu ti.

²² Horii ballaa yookiin cabaa yookiin horii fafa qabu yookiin ka robbii qabu yookiin horii madaan isaa malaa qabu yookiin dhukkuba goga'aa qabu ana Mootii Waan Maraatiif kennansa hin dhikeessina'a; horii akkasii addee ciinca'aa irratti kennansa ibiddaan gubamu ana Mootii Waan Maraatiif hin dhikeessina'a.

²³ Korma yookiin hoolee ka harki yookiin luki isaanii akka malee dheeratanu yookiin gabaabbatanu kennansa fedhii teessanii gootanee dhikeessuu hin dandeettan; kennansa waadaa galameef ammoo fudhatama hin qabu.

²⁴ Horii midhattiin isaa kolaafame yookiin tumame yookiin baqaffame yookiin murame ana Mootii Waan Maraatiif kennansa hin dhikeessina'a. Lafa teessan keessatti horii akkasii kennansa hin dhikeessina'a.

²⁵ « «Horii akkasii orma irraa fuutanee sagalee ana Waaqa keessanii gootanee hin dhikeessina'a. Horiin akkasii fafa yookiin komii waan qabuuf fudhatama hin qabu jedha» jedhiin» jedhe.

²⁶ Mootiin Waan Maraa ammalle Muuse'een,

²⁷ «Jabbiin, ilmooleen hoole'ee yookiin re'e'ee yoo dhalatane guyyaa torba haadha ifii bira turanuu ti; guyyaa saddeetesso'ootiin jalqabee kennansa ana Mootii Waan Maraatiif ibiddaan gubamuuf fudhatama qaban.

²⁸ Sa'a waatii isaa waliin yookiin hoolee ilmee isi'ii waliin guyyuma tokko hin qalina'a.

²⁹ Kennansa galataa ana Mootii Waan Maraatiif yennaa dhikeessitanu akka isiniif fudhatama qabaatu akkasitti dhikeessa'a.

³⁰ Ani Mootii Waan Maraa ti; kennansa san guyyuma dhikaate san nyaadha'a malee, tokkolle boruuf hin hamburatina'a.

³¹ «Ani Mootii Waan Maraa ti; ajaja kiyya eegadha'a; muummessaalle'e.

³² Ani Mootii Waan Maraa ka isin woyyoonsu; Kolbaa Israa'elii maratti ani woyyicha akka te'e beekkamu qaba. Maqaa kiyya woyyicha hin batteessina'a.

³³ Ani Mootii Waan Maraa ti; Waaqa isiniif te'iisaaf biyya Gibxi'ii keessaa ka isin baase ana» jedhe.

23

Jila Akka Itti Jilifatanu

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

² «Ati kolbaa Israa'eliitiin, «Mootiin Waan Maraa: jilti ana Mootii Waan Maraatiif filante, ta yaa'ii woyyittii isin itti lassitanu ta asii gad jirtu;

³ « «Guyyooti jaa ka isin hujii hujjanu; guyyaan torbeesso'oo ammoo Sanbata foora, guyyaa yaa'ii ana Mootii Waan Maraatiif woyyoome; guyyaa sanbataa ka ana Mootii Waan Maraatiif woyyoome waan te'eef, addee leetanu maratti hujii hin hujina'a» jedha» jedhiin.

Jila Irra Dabaramaatiif fi Jila Daabboo Uukoo Hin Qannee

⁴ Itti dabalee, «Yennaan jilaa ta ana Mootiin Waan Maraatiif filante, ta yaa'ii woyyittii isin itti lassitanu:

⁵ Jilti irra dabaramaa, ta Mootii Waan Maraa, ji'a tokkeesso'oo guyyaa kudhanii afurfeesso'ootitti galgala dimimmisa jilifanti.

⁶ Jilti irra dabaramaa ta Mootii Waan Maraa ta daabboo uukoo hin qannee guyyaa kudhanii shaneesso'ootitti jalqabanti. Guyyaa torba daabboo uukoo hin qanne nyaadha'a.

⁷ Guyyoota kana keessaa guyyaa tokkeesso'oo yaa'ii woyyittii godhadha'a; ijjumaa hujii hin hujina'a.

⁸ Guyyaa torba kennansa ibiddaan gubamu ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessa'a; guyyaa torbeesso'oo yaa'ii woyyittii godhadha'a malee, ijjumaa hujii hin hujina'a» jedhe.

⁹ Ammalle Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

¹⁰ «Ati kolbaa Israa'eliitiin, «Mootiin Waan Maraa: Lafa ani isiniif kennu sanitti galtanee midhaan yennaa galfattanu laddee matoomaa hayyichaaf kenna'a.

¹¹ Laddeen sun akka isiniif fudhatama qabaattu, hayyichi ana Mootii Waan Maraa duratti tachoossee kennansa tachoofamu dhikeessuu ti. Hayyichi laddee san guyyaa Sanbatatti aanu dhikeessuu ti.

¹² Guyyaa laddee san kennansa tachoofamu dhikeessitanu, buruusoo korbeessa hoole'ee ka fafa hin qannee fi ka woggaa tokkoo kennansa gubamu, ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessa'a.

¹³ Bullaa dansaalle kiiloogiraama lama ta zayitii ejersaa gara litirii tokkootiin sukkuumante ta foolee dansaa qaddu ta ana Mootii Waan Maraa gammachiittu, daadhii woyni'iille litirii tokko woliin dhikeessa'a.

¹⁴ Kennansa kana ana Waaqa keessaniif haga dhikeessitanutti, shawwee midhaan kanaa, akum'ee yookiin daabboo isaa hujjane hin nyaatina'a. Seerri kun addee leetanu maratti dhaloota dhufu maraaf seerata haga bara baraa te'uu ti.

Jila Yennaa Midhaan Galfatnuu

¹⁵ « «Guyyaa Sanbatatti aanu, guyyaa laddee matoomaa kennansa tachoofamu dhikeessitaneen jalqaba'aatii torbaan yennaa torba laakkowa'a!

¹⁶ Sanbata torbeesso'ootiin duuba guyyaa shantameesso'oo ammalle midhaan barano'oo irraa ana Mootii Waan Maraatiif kennansa dhikeessa'a!

¹⁷ Addee leetanu mara keessaa daabboo xaltaa lama lama ta bullaa dansaa kiiloogiraama lama irraa hujante ta uukoo qaddu, midhaan qara bilchaate irraa kennansa tachoofamu ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessa'a.

¹⁸ Kennansa daabbo'oo kana woliin buruusoo korbeeyyii hoole'ee torba ta woggaa tokko tokkoo ta fafa hin qanne, dardara tokkoo fi korbeeyyii hoole'ee lama kennansa gubamu ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessa'a! Kun kennansa midhaaniitii fi kennansa daadhii woyni'ii woliin kennansa ibiddaan gubamu ka foolee dansaa qabu ka ana Mootii Waan Maraa gammachiisuu te'anee dhikeeffamanuu ti.

¹⁹ Achiin duuba korbeessa re'e'ee tokko ciincaa araara cubbu'uutiif, buruusoo korbeeyyii hoole'ee lama ta woggaa tokko tokkoo kennansa tokkumma'aatiif dhikeessa'a.

²⁰ Hayyichi daabboo midhaan qara bilchaatee san buruusoo korbeeyyii hoole'ee lamaan san woliin kennansa tachoofamu ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessuu ti; isaan kun kennansa Mootii Waan Maraatiif woyyoomme qooda hayyichaa ti.

²¹ Guyyaa san wol geyii woyyittii lassa'a malee hujii ijjumaa hin hujina'a! Kun addee leetanu maratti dhaloota dhufu maraaf, seerata haga bara baraa te'uu ti.

²² « «Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan; midhaan lafa teessanii yennaa galfattanu haga fichaa qarqaraatitti hin haammatina'a; woxoo midhaan galfattanu sanii hiyyeessaa fi alaga'aaf lakkisa'a» jedha» jedhiin.

Jila Yaadanno'oo

²³ Ammalle Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

²⁴ «Ati kolbaa Israa'eliitiin, «Mootiin Waan Maraa: Ji'a torbeesso'oo guyyaan jalqabaa guyyaa foora ti. Guyyaa yaadanno'oo lassiisaaf tultullaa afuufa'a; isin yaa'ii woyyittii qabaatuu qaddan.

²⁵ Guyyaa san kennansa ibiddaan gubamu ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessa'a malee ijjumaa hujii hin hujina'a» jedha» jedhiin.

Guyyaa Gumaa Cubbu'uu

²⁶ Mootiin Waan Maraa ammalle Muuse'een,

²⁷ «Ji'a torbeesso'oo kanatti guyyaan kudhaneesso'oo, guyyaa gumaan cubbu'uu tolfamu te'uu ti. Guyyaa kana ifi gad qaba'a; yaa'ii woyyittii godhadha'a; kennansa ibiddaan gubamulle Mootii Waan Maraatiif dhikeessa'a.

²⁸ Guyyaa gumaa cubbu'uu ka ana Mootii Waan Maraa Waaqa keessan duratti, gumaan cubbu'uu isiniif tolfamu waan te'eef, ijjumaa hujii hin hujina'a.

²⁹ Nami guyyaa san gad ifi hin qanne kolbaa ifii keessaa bayuu ti.

³⁰ Nama guyyaa san hujii huju mara ani kolbaa isaa keessaa hin balleessa.

³¹ Tanaaf guyyaa san ijjumaa hujii hin hujina'a; kun addee leetanu maratti dhaloota dhufu maraaf seerata haga bara baraa te'uu ti.

³² Kun guyyaa Sanbataa ka itti foorfattanu isiniif te'uu ti; gad ifi qaba'aatii, ji'a san keessa galgala guyyaa sagaleesso'ootii jalqaba'aa, haga galgala guyyaa itti aanuutitti Sanbata ulfeessa'a» jedhe.

Jila Gose'ee

³³ Ammalle Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

³⁴ «Ati kolbaa Israa'eliitiin, «Mootiin Maraa: Ji'a torbeesso'oo guyyaa kudhanii shaneesso'ootitti jilti gose'ee ana Mootii Waan Maraatiif jalqabantee, haga guyyaa torbaa turtuu ti.

³⁵ Guyyaan jalqabaa guyyaa yaa'ii woyyitti'ii ti; hujii ijjumaa hin hujina'a.

³⁶ Guyyaa torbaanuu kennansa ibiddaan gubamu ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessa'a. Guyyaa saddeetesso'oo yaa'ii woyyittii godhadha'aatii kennansa ibiddaan gubamu ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessa'a; guyyaan sun guyyaa yaa'ii muummessitanu waan te'eef ijjumaa hujii hin hujina'a.

³⁷ « «Gyyooti jilaa ka ana Mootii Waan Maraatiif filamane, ka isin kennansa gubamu, kennansa midhaanii, ciinca'aa fi kennansa daadhii woyni'ii guyyaa isaaniif murteeffametti ana Mootii Waan Maraatiif ibiddaan dhi-keessiisaaf, yaa'ii woyyittii itti lassitanu isaan kana.

³⁸ Kennansi asii olii kun marti guyyaa Sanbata kiyyaa, guyyoota kennansa keessan ka adda addaa, kennansa waadaa galtanee fi kennansa fedhii teessanii ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessitanu irratti ka dabalamee dhikaatu.

³⁹ « «Ji'a torbeesso'oo, guyyaa kudhanii shaneesso'ootitti, Midhaan keessan fichaa irraa galfattaneen duuba, guyyaa torba ana Mootii Waan Maraatiif jila tana jilifadha'a. Guyyaan jalqabaa guyyaa foora te'uu ti; guyyaan saddeetesso'oolle guyyaa foora te'uu ti.

⁴⁰ Guyyaa jalqabaa sanitti, midhaan dadansaa, baala meexxi'ii, damee baala qadduu fi muka laga qarqaratti latu* qabadha'aatii guyyaa torba ana Mootii Waan Maraa Waaqa keessan duratti firinxixa'a.

* **23:40** Muka laga qarqaratti latu: Muki kun Afaan Ibrootaatiin Aravaa jedhama.

⁴¹ Jila tana wogguma wogga'atti ji'a torbeesso'oo keessa guyyaa torba ana Mootii Waan Maraatiif jila jilifadha'a; kun dhaloota dhufu maraaf seerata haga bara baraa te'uu ti.

⁴² Guyyaa torba gosee keessa tee'a'a; nami dhalootaan Israa'el te'e marti gosee keessa turuu ti.

⁴³ Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan; ani kolbaa Israa'elii biyya Gibxi'ii keessaa yennaa baase gosee keessa akka le'anuu akka isaan tolche dhalooti keessan tanaan beekan jedha» jedhiin» jedhe.

⁴⁴ Maarre Muuseen akka kanaan guyyoota jila Mootii Waan Maraatiif filamane kolbaa Israa'eliititti beessise.

24

Issaa

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

² «Ifi yennaa mara akka ifu, Israa'elooti zayitii qulluu muka ejersaa irraa cunfantee dhimbiiibante akka sii fiddu ajaji!

³ Aaron Dunkaanii Woldeenna'aa keessatti, gollaa dhugaa bayaatiin alatti, galgalaa haga ganamaatitti, ifa yennaa mara ana Mootii Waan Maraa duratti tarree galchuu ti; kun dhaloota dhufu maraaf seerata haga bara baraa te'uu ti.

⁴ Aaron waan issaa irra keyanu ta worqii qulluu irraa hujante san irratti, ifi sun akka hin dhaanne ana Mootii Waan Maraa duratti tarree galchuu ti.

Daabboo Waaqaaf Dhikaattu

⁵ «Bullaa dansaa fuudhiitii xaltaa daabbo'oo kudhanii lama, tokko tokkoon isaa kiiloogiraama lama lama ka te'e bilcheessi.

⁶ Xaltaa daabbo'oo san xarapheessaa worqii qulluu irraa hujame irratti tarree lamaan, jaan jaaniin fuula kiyya dura wol irra naqi.

⁷ Xaltaa daabbo'oo san waliin qooda yaadannoo kennansa ibiddaan gubamee ana Mootii Waan Maraatiif dhikaatu akka te'u, hixaana qulluu tarree lamaan san irra kaayi.

⁸ Aaron bakka kolbaa Israa'elii bu'ee daabboo tana, Sanbata mara ana Mootii Waan Maraa duratti tarree galchuu ti. Tun Gondooroo bara baraa teetuu ti.

⁹ Daabboon tun qooda Aarooniitii fi qooda ilmaan isaa ti; kennansa ibiddaan gubamee ana Mootii Waan Maraatiif dhikaatu keessaa qooda isaanii ka irra caalaa woyyicha te'e keessaa tokko waan te'eef, addee woyyitti'itti nyaatanuu ti. Kun seerata haga bara baraa ti» jedhe.

Yakka'aa Fi Adabbii

¹⁰ Nami haati isaa dubartii Israa'elii teete, ka abbaan isaa nama Gibxi'ii te'e tokko odduu Israa'elootaatiitti gad bayee, Israa'elicha tokko waliin wol lolane.

¹¹ Ilmi dubartii Israa'elii sun maqaa Waaqaa abaaree waan faanshesseef, gara Muuse'ee isa fidane; haati isaa intala Dibrii nama gosa Daanii ti; maqaan isi'ii «Shelomiit» jedhama.

¹² Fedhi Mootii Waan Maraa haga isaanitti mudhatutti, isaan mana hidha'aatitti isa galchane.

¹³ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

¹⁴ «Nama maqaa Waaqaa abaaree faanshesse san addee guttumaatiin alatti baasi. Worri faanshessiisa isaa dhage'e marti akka inni yakkaa huje dhugaa bayisaaf harka ifii mataa isaa irra keyanuu ti; achiin duuba wolde'i marti dhaka'aan isa tumanuu ti.

¹⁵ Kolbaa Israa'eliitiin, «Nami maqaa Waaqa ifii abaaru marti cubbuu waan hujeef, itti hin gaafatama.

¹⁶ Nami maqaa Mootii Waan Maraa faanshessu ijjeefamuu ti! Kolbaan wolde'i marti dhaka'aan isa tumanuu ti; alagaalle te'u yookiin dhalataa biyyaalle te'u nami maqaa Waaqaa faanshessu ijjeefamuu ti.

¹⁷ «Nami nama yoo ijjeese ijjeefamuu ti.

¹⁸ Nami horii namaa ijjeese abbaa saniif horuma gosa sanii bakka buusuu ti.

¹⁹ Nami tokko nama yoo miidhe, wonni inni nama irratti godhe sun isa irralle'etti godhamuu ti.

²⁰ Yoo inni lafee namaa casse, lafeen isaalle cadduu ti; yoo inni ila namaa balleesse, ilti isaalle badduu ti; yoo inni ilkaan nama casse, ilkaan isaalle cabuu ti. Akkuma nama dhibii miidhe, innille miidhamuu ti.

²¹ Nami horii ijjeese, horii ijjeese san bakka buusuu ti; nami nama ijjeese ammoo ijjeefamuu ti.

²² Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan; nama alaga'aa fi nama dhalataa biyyaa te'eefille seeruma tokko qabaadha'a» jedhi» jedhe.

²³ Achiin duuba Muuseen waan kana mara kolbaa Israa'eliititti hime; isaan namicha san addee quttumaatiin alatti baasanee dhaka'aan tumaanee ijjeesane. Akka kanaan kolbaan Israa'elii waan Mootiin Waan Maraa Muusee ajaje mara goote.

25

Woggaa Torbeesso'oo Ta Fooraa

¹ Mootiin Waan Maraa gaara Siina'aa irratti Muuse'een,

² «Ati kolbaa Israa'eliitiin, «Mootiin Waan Maraa: Lafa ani isiniif kennu sanitti yenna galtanu, fooraa sanbataa ka woggaa torbeesso'oo mara lafa qotiisa lakkisiisaan ana Mootii Waan Maraa ulfeessa'a.

³ Woggaa jaa fichaa keessanitti facaafadha'aa, muka woyni'ii keessanille quxadha'aatii, midhaan keessan galfadha'a.

⁴ Woggaa torbeesso'oo ammoo fooraa sanbataa ka woggaa torbaa ka ana Mootii Waan Maraatiif woyyoome; fichaa keessanitti hin facaafatina'a; muka woyni'ii keessanille hin quxina'a.

⁵ Midhaan haaga'ee hin haammatina'a. Muka woyni'ii ka hin quxamin irraa midhaan hin guuratina'a. Lattille woggaa fooraa qabaattuu ti.

⁶ Fooraa sanbataa ka woggaa torbaa keessa wonni latti baachu marti si'iif, garboota teeti ta dhiiraatii fi ta dubarti'iitiif, hojjataa qaxaramee hujuu fi alagaa yenna'aaf isin waliin le'uuf sagalee te'uu ti.

⁷ Horii keetii fi bineensa biyya teeti keessa jiranu maraafille sagalee te'uu ti.

Jila Woggaa Shantameesso'oo

⁸ «Woggaa fooraa torba yenna torba laakkow; wolumatti woggaa afurtamii sagal hin te'an.

⁹ Achiin duuba ji'a torbeesso'oo guyyaa kudhaneesso'oo, guyyaa gumaa cubbu'uu, biyya teessan addee maratti tultullaan afuufamuu ti.

¹⁰ Woggaa shantameesso'oo woyyoonsa'a; namoota biyya teessan keessa jiru maraaf bilisummaa lassa'a. Woggaa tun jila woggaa shantameesso'oo* isiniif teetuu ti. Woggaa tanatti tokko tokkoon keessan gara qabeenna maatii teessaniitii fi gara fira keessanii deebi'a'a.

* **25:10** *Jila woggaa shantameesso'oo: Afaan Ibrootaatiin yobeel jedhama.*

¹¹ Woggaan shantameesso'oo tun jila woggaa shantameesso'oo isiniif teetuu ti; ficha'atti hin facaafatina'a; midhaan ifiin late yookiin woynii hin quxamin irraa midhaan hin guuratina'a.

¹² Woggaan shantameesso'oo jila woggaa shantameesso'oo waan teeteef, ta woyyoonte isiniif teetuu ti; waan fichaa keessatti ifiin late callaa nyaadha'a.

¹³ « Woggaan shantameesso'oo tana keessa nami martinuu gara qabeenna ifii deebi'uu ti.

¹⁴ Isin lafa yoo wolitti gurgurtane yookiin yoo wol irraa bitattane wol hin dagina'a.

¹⁵ Isin akka bacinna laakkossa woggoota jila woggaa shantameesso'ootiif hatteetitti shallaga'aatii nama biyya teessanii irraa bitadha'a. Innille akka laakkossa woggoota midhaan irraa galfatiisa dande'anuu tatti shallagee gurguruu ti.

¹⁶ Wonni inni isinitti gurguru laakkossa woggaa isin midhaan irraa galfattanuun waan te'eef, yoo woggaan hedduu teete, gatii itti dabala'a; yoo woggaan diqqoo teete gatii irraa cassa'a.

¹⁷ Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan waan te'eef, ana Waaqa keessan sodaadha'a malee, wol hin dagina'a.

¹⁸ « Lafa irra nageyaan akka leetanu, seerata kiyya eegadha'a; seera kiyyaaf ajajamiisaafille ifi eegadha'a.

¹⁹ Achiin duuba latti midhaan hin kenniti; isinille nyaattanee quuttanee, nageyaan hin leetan.

²⁰ « Isin: yoo hin facaafatin yookiin midhaan yoo hin galfatin woggaa torbeesso'oo keessa maan nyaanna jettanee gaafattan fa'a te'a.

²¹ Woggaa jayeesso'ootitti latti midhaan woggaa sadiif gewu akka isiniif kennitu ani eebba kiyya isiniif hin erga.

²² Woggaa saddeetesso'ootitti midhaan yenna facaafattanu, midhaan galisoo san nyaattan; haga midhaan woggaa sagaleesso'oo galfattanulle'etti midhaanuma san nyaatan.

Seera Lafa Wodiisaa

²³ « Latti tiyya waan teeteef, isin ammoo alagaa yenna'aaf lafa tiyya irra jirtanu waan teetaneef, latti gurgurantee achumaan hin hafin.

²⁴ « Lafa ifiif qabattane mara keessatti mirgi lafa deebisane wodatani jiraatu ti.

²⁵ Isin worra Israa'elii keessaa nami tokko hiyyoommatee, lafa ifii yoo gurgure, nami fira aantii isaa deebisee isaaf wodatu ti.

²⁶ Nami sun fira aantii ka lafa san isaaf wodu yoo hin qabaatin, inninuu deebisee wodatiisaaf karra yoo dhaggate ammoo,

²⁷ lafa san haga itti gurgureen jalqabee, woggoota dabarane laakkowee, waan irraa hafe namichaaf deebisu ti.

²⁸ Deebisee wodatiisaaf harki isaa yoo hanqate ammoo, haga jila woggaa shantameesso'ootitti, latti sun abbuma bitate san harka turtuu ti; woggaa shantameesso'ootitti abbaa gara gurgureef deebitu ti; namichi keessaa bayee gara lafa ifii deebi'uu ti.

²⁹ « Nami tokko qachaa guddaa dalleya dhaka'aa qabu keessa jiru keessatti mana ifii yoo gurgure, gurgureen duuba woggaa tokko keessatti wodatiisaaf mirga qaba.

³⁰ Manni sun woggaa tokko keessatti yoo hin wodamin, manni qachaa guddaa dalleya dhaka'aa qabu san keessaa sun, namicha bitatee fi sanyii isaatiif te'uu ti; manni sun woggaa shantameesso'ootitti hin wodamin.

³¹ Manooti ollaa dalleya dhaka'aa hin qanne keessa jiranu ammoo akka mana diida keessa jiruutitti laakkowamanee, wodamanee, woggaa shantameesso'oo keessa deebifamanuu ti.

³² Te'uu malee, worri Lewwootaa manoota qachaa isaanii keessa jiranu yennaa mara wodatiisaaf mirga qaban.

³³ Manooti qachoota Lewwootaa keessa jiranu, odduu Israa'elootaatitti qabeenna Lewwootaa waan te'aneef, worri Lewwootaa mana qachoota ifii keessaa gurgurane yoo wodatiisa dhabane, woggaa shantameesso'ootitti manni sun Lewwootaaf deebi'uu ti.

³⁴ Addeen horii itti bobbaafatanu ta adaala qachaa isaanii jirtu ammoo qabeenna isaanii ka bara baraa waan teeteef, hin gurguramin.

Liqaa Hiyyeessaaf Kennuu

³⁵ « «Isin keessaa nami tokko hiyyoommatee ifi qarqaariisa yoo dadhabe, akka inni odduu teessan le'iisa dande'u, akkuma nama alaga'aatii fi nama yenna'aaf odduu teessan jiru qarqaartanu isa qarqaara'a.

³⁶ Isin ammoo ana Mootii Waan Maraa keessan sodaadha'a; akka inni odduu teessan le'uuf, waan tokkolle dhalaan isa irraa hin fudhatina'a.

³⁷ Beesee teeti dhalaan isaaf hin liqeessin; sagalee isatti gurgurtu irraa bu'aa hin barbaadin.

³⁸ Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan, ka lafa kana'aanii isiniif kenniisaaf, Waaqa keessanille isiniif te'iisaaf, biyya Gibxi'ii keessaa isin baase.

Garboolee Woduu

³⁹ « «Isin keessaa nami tokko hiyyoommatee isinitti ifi yoo gurgure, akka garbaatitti isa hin hujisiisin.

⁴⁰ Isin biratti inni akka nama qaxaramee hujuu yookiin akka nama yenna'aaf odduu teessan jiruutitti laakkowamuu ti; inni haga woggaa shantameesso'ootitti isinii hujuu ti.

⁴¹ Achiin duuba innii fi ijoolleen isaa bilisa bayanee fira ifii, gara qabeenna abbootii ifii ta duriititti deebi'uu ti.

⁴² Israa'elooti tajaajiltoota tiyya ta ani biyya Gibxi'ii keessaa baase waan te'aneef, akka garbaa hin gurguramin.

⁴³ Isin ana Waaqa keessan sodaadha'a malee, gadhi-jabeennaan isaan hin bulchina'a.

⁴⁴ Garboota teessan ta dhiiraatii fi ta dubarti'ii gosa biyya adda addaa ta adaala keessan jiranu keessaa bitatuu hin dandeettan.

⁴⁵ Akkasuma worra yenna'aaf odduu teessan le'uu fi worra fira isaanii ka biyya teessan keessatti dhalate bitatiisa hin dandeettan; isaan qabeenna keessan hin te'an.

⁴⁶ Akka qabeenna keessanii ijoolleen teessan isaan dhaaltuu ti; bara jiruu isaanii mara garboota isaan godhatuu dandeettan. Te'uu malee Israa'eloota obboleeyyan teessan gadhi-jabeennaan hin bulchina'a.

⁴⁷ « «Nami alagaan yookiin nami yenna'aaf odduu teessan le'u tokko yoo duroome, nami biyya teessanii tokko hiyyoommatee nama alaga'aa ka odduu teessan le'utti yookiin nama fira alaga'aa sanitti yoo ifi gurgure,

⁴⁸ inni ifi gurgureen duuba mirga wodamiisaa hin qaba. Nami obboleessa isaa,

⁴⁹ wosiilli isaa yookiin ilmi wosiila isaa yookiin sanyii worra isaa keessaa nami tokko isa wodiisa hin dande'a yookiin inninuu yoo karra dhaggate ifi wodatiisa hin dande'a.

⁵⁰ Inni woggaa ifi itti gurgureen jalqabee haga woggaa shantameesso'ootitti nama isa bitate san woliin yennaa isaa laakkowanuu ti;

gatiin inni ittiin lakkifamu akka laakkossa woggoota saniititti, akka nama qaxaramee huju tokkoof kaffalamutti shallagama.

⁵¹ Woggaan hedduun hattee yoo jiraatte, gatii inni ittiin ifi gurgure keessaa, gatiin laakkossa woggaa hatte sanii shallagantee, gatii wodoo ifii isaaf kaffaluu ti.

⁵² Haga jila woggaa shantameesso'ootitti woggaan diqqoon callaan yoo hattee jiraatte, haga woggaa hatte saniititti gatii isaaf kaffaluu ti.

⁵³ Inni akka nama wogga'aa gara wogga'aatitti qaxaramee le'uu ti; namichi isa bitate sun isin duratti gadhi-jabeennaan isa hin bulchin.

⁵⁴ Akka kanaan yoo wodamiisa dhabe, innii fi ijoolleen isaa jila woggaa shantameesso'ootitti gad lakkifamanuu ti.

⁵⁵ Isin kolbaan Israa'elii tajaajiltoota tiyya; isin tajaajiltoota tiyya ta ani biyya Gibxi'ii keessaa baase; ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan» jedhiin» jedhe.

26

Eebba Ajajamiisaan Dhaggamu

¹ Mootiin Waan Maraa, «Ani Mootiin Waan Maraa Waaqa keessan; isin waaqota dharaa hin hujatina'a yookiin fakkii yookiin soodduu woyyittii hin dhaabbatina'a; dhakaa qiriixamelle itti sagadiisaaf biyya teessan keessatti hin dhaabina'a!

² Ani Mootii Waan Maraa ti! Guyyaa Sanbataa kiyya eegadha'a; addee woyyittii tiyyaafille ulfinna kenna'a.

³ «Isin seerata kiyya yoo eegattane, ajaja kiyyaafille akka dansaa yoo ajajantane,

⁴ Bokkeya yennaa isaatitti isiniif hin kenna; latti midhaan hin baachi; mukille midhaan hin buusa.

⁵ Midhaan adoo dhowattanuu yennaan unkuruura woyni'ii murattanuu hin geetti; unkuruura woyni'iille adoo murattanuu yennaan midhaan facaafattanuu hin geetti; sagalee barbaaddane maralle hin nyaattan; lafa teessan keessalle nageyaan hin leetan.

⁶ «Lafaaf nageya hin kenna; isin hin foorfattan; nami isin sodaachisu tokkolle hin jiraatu. Ani bineensa hamaa lafa irraa hin balleessa; diinni keessan haganaa achi isin hin lolu.

⁷ Isin diinota keessan hin ariitan; isaanille shallaagaa keessaniin isin duratti hin dhumatan.

⁸ Isin nami shan isaan nama dhibba hin ariitan; isin nami dhibbi isaan nama kuma kudhan hin ariitan; diinoti keessanille shallaagaa keessaniin isin duratti hin dhumatan.

⁹ Ani gara keessan hin ilaala; akka isin hortanu godhee, isin hin baceessa. Gondooroo isin woliin godhadhe hin eegadha.

¹⁰ Isin midhaan bara dabaree adoo nyaattanuu, midhaan bara haareyaatiif addee dhaggatiisaaf, midhaan bara dabaree san hin haxoottan.

¹¹ Ani addee leetoo tiyyaa odduu teessanitti hin godhadha; isin hin jibbulle'e.

¹² Ani yennaa mara odduu teessan le'ee, Waaqa isiniif hin te'a; isinille kolbaa tiyya hin teetan.

¹³ Akka isin haganaa achi worra Gibxi'iitiif garba hin teene, biyya Gibxi'ii keessaa ka isin baase, ana Mootii Waan Maraa Waaqa keessan; ani waanjoo garbumma'aa isin irraa cassee, ol jettanee akka deentanuu isin godheera.

Adabbii Ajajamiisa Dhabaa

¹⁴ «Isin naaf ajajamiisa dhaddanee, ajaja kiyya mara yoo hin eegatin,

¹⁵ seerata kiyyalle tuffattanee, seera kiyya yoo jibbitane, akka ajaja kiyyaatitti hujuu dhaddanee, gondooroo tiyya yoo diiddane,

¹⁶ ani waan asii gad jiru isinitti hin fida: bararaqa dedhaa*, dhukkuba balleessu, o'a ila isin balleessee jiruu gossu isinitti fida; isin sanyii hin facaafatan, garuu diinota keessanitti nyaata.

¹⁷ Akka diinni keessan isin injifatu, ani diina isinitti hin te'a; worri isin jibbu isin hin bulcha; adoo nami isin hin ari'in hin baqattan.

¹⁸ «Tana maraan duuba isin ammalle naaf yoo hin ajajamin, ani sababa cubbuu teessaniitiif dachaa torba isin hin adaba.

¹⁹ Ani hunna teessan ta isin ittiin koortanu hin cassa; bokkeenni akka hin roonne, gubbaa akka sibiilaa, lafa akka sageettu'uu hin godha.

²⁰ Latti teessan midhaan waan hin baanneef, muki keessanille midhaan waan hin buunneef, hunni teessan toluma dhumatti.

²¹ «Isin na mormitane, na dhage'iisa yoo diddane, ani akka cubbuu teessaniititti dachaa torba rakkinna isinitti fida.

²² Ani bineensota ijoollee teessan isin duraa fudhatu, ka horii keessan balleessu, ka laakkossa keessanille diqqeessee, nami karaa irra deemu akka dhabamu godhu isinitti hin erga.

²³ «Waan kanalle'een gara kiyya deebi'uu diddane, anaan yoo mormitane,

²⁴ ani isin mormee sababa cubbuu teessaniitiif dachaa torba rakkinna isinitti hin fida.

²⁵ Gondooroo tiyya waan diiddaneef, haluu bayiisaaf, shallaagaa isinitti hin fida. Yennaa isin qachaa keessatti wolitti qabantanu, ani balaa odduu teessanitti hin erga; harka diinaatitti dabarfantane hin kennantan.

²⁶ Yennaa ani sagalee isin dhooggu, dubartiin kudhan eelee takka'atti daabboo isiniif bilcheessitee, madaaltee isinii hin dhikeessite; isin hin nyaattan, ammoo hin quuttanu.

²⁷ «Waan kanalle'een gara kiyya deebi'uu diddane, anaan yoo mormitane,

²⁸ achiin duuba aarii tiyyaan isin mormee, sababa cubbuu teessaniitiif, dachaa torba isin hin adaba.

²⁹ Isin foon ijoollee teessan ta dhiiraatii fi ta durraa hin nyaattan.

³⁰ Addee waaqonfanna'aa teessan hin balleessa; addee ciinca'aa teessan ta hixaanni irratti aarfamu hin diiga; reeffa keessan waaqota dharaa keessan ka lubbuu hin qanne san irratti hin tuula; isinille hin diqadha.

³¹ Qachoota keessan hin diiga; addee woyyittii teessanille hin onsa; ciincaa keessan ka foolee dansaa qabu sanille hin fudhadhu.

³² Diinoti keessan ka lafa teessan keessa le'anuu, dhagganee akka rifatanu lafa teessan hin onsa.

³³ Gosa biyya adda addaa keessa isin bittinneessee, shallaagaa buqqifadhee isin hin ari'a; latti teessan duwwaa teetee, qachooti keessanille hin ona.

³⁴ Achiin duuba latti woggoota onte san mara, yennaa isin biyya diinota keessanii keessa jirtanu foora sanbataa ka woggoota torbaa ka ifii sanitti hin gammaddi; achiin duuba latti foorfatee, Sanbata ifiititti hin gammaddi.

³⁵ Latti woggoota Sanbataa ta yennaa isin keessa leetane san foora hin qanne, yennaa ontee teettu san mara hin qabaatti.

³⁶ «Isin keessaa worra lubbu'uun hafe, lafa diinota isaanii keessa jiranuun sodaa hantuu isaanitti hin erga. Shokokkeessi baala qilleensi tachoosuu isaan hin bararassa; nami isaan ari'u adoo hin jiraatin akka nama shallaagaa dheetuu hin baqatan; hin jiganille'e.

* **26:16 Dedha:** Yookiin tasa.

³⁷ Nami isaan ari'u adoo hin jiraatin, akka nama shallaagaa dheetuu adoo baqatanuu wol gufatan. Maarre isin diinota keessan dura dhaabbatiisa hin dandeettanu.

³⁸ Isin gosa biyya adda addaa oddu'utti hin dhumattan; latti diinota keessanii isin hin liqinsiti.

³⁹ Isin keessaa worri lubbu'uun hafe, sababa cubbuu ifitii fi sababa cubbuu abbootii ifitiif lafa diinota ifii keessatti hin yaayyan.

⁴⁰ «Te'uu malee isaan cubbuu ifitii fi cubbuu abbootii ifii ta isaan maltumma'aan na mormatane yoo faaci'atane,

⁴¹ cubbuu akka ani diina isaanitti te'uu fi gara lafa diina isaaniititti akka ani isaan ari'u goote san yoo faaci'atane, gadhaan isaanii ka jabaate sun laafee, adabbii cubbuu ifii yoo fudhatan,

⁴² ani gondoorroo tiyya ta Yaaqoob, Yisihaqii fi Abrahaamii woliin godhe san hin qaabadha. Lafa sanille hin qaabadha.

⁴³ Isaan lakkisanee waan deemanee, latti ontee, addee isaan hin jirretti woggoota Sanbata ifiititti hin gammaddi; isaan seera kiyya tuffatanee, seerata kiyya waan jibbaneef adabbii cubbuu ifii hin fudhatan.

⁴⁴ Te'uu malee, waan kanalle'een, ani Mootii Waan Maraa Waaqa isaanii waan te'eef, gondoorroo isaan woliin godhe hin diigu; yennaa isaan lafa diina ifii keessa jiranu ijumaa isaan balleessiisaaf, isaan hin gatu yookiin hin diqadhu.

⁴⁵ Ani ammoo gondoorroo tiyya ta abbootii isaanii, gosi biyya adda addaa adoo dhaggituu, Waaqa isaaniif te'iisaaf, biyya Gibxi'ii keessaa yennaa isaan baase isaan woliin godhe san, isaaniif jedhee hin qaabadha. Ani Mootii Waan Maraa ti!» jedhe.

⁴⁶ Kun Seerata, seeraa fi ajaja Mootiin Waan Maraa gaara Siina'aa irratti ifii fi kolbaa Israa'elii wodhakka'atti karaa Muuse'eetiin dhaabe.

27

Kennansa Waaqaaf Dhikaate Woduu

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

² «Ati kolbaa Israa'eliitiin, «Nami tokko nama ana Mootii Waan Maraatiif adda baasee kenniisaaf waadaa yoo gale, akka nami sun itti shallagametti, gatiin inni kaffalu,

³ akka madaallii addee woyyitti'iititti dhiira woggaa diddamaa haga woggaa jaatamaatiif meetii giraama dhibba shanii fi torbaatama*,

⁴ dubartii yoo teete ammoo meetii giraama dhibba sadii fi afurtama†,

⁵ dhiira woggaa shanii haga woggaa diddamaatiif meetii giraama dhibba lamaa fi soddoma‡, dubartii yoo teete ammoo meetii giraama dhibba tokkoo fi kudhanii shan§,

⁶ dhiira ji'a tokkoo haga woggaa shaniitiif meetii giraama shantamii torba*, dubartii yoo teete ammoo meetii giraama soddomii afur†

* **27:3** Meetii dhibba shanii fi torbaatama: Afaan Ibrootaatiin sheeqelii shantamajedha. † **27:4** Meetii giraama dhibba sadii fi afurtam: Afaan Ibrootaatiin sheeqelii soddoma jedha. ‡ **27:5** Meetii giraama dhibba lamaaf soddoma: Afaan Ibrootaatiin sheeqelii diddamajedha. § **27:5** Meetii giraama dhibba tokkoo fi kudhanii shan: Afaan Ibrootaatiin sheeqelii kudhan jedha. * **27:6** Meetii giraama shantamii torba: Afaan Ibrootaatiin Sheeqelii shanjedha. † **27:6** Meetii giraama soddomii afur: Afaan Ibrootaatiin sheeqelii sad jedha.

⁷ dhiira woggaa jaatamaa oliitiif meetii giraama dhibba tokkoo fi torbaatamii tokko[‡], dubartii yoo teete ammoo meetii giraama dhibba tokkoo fi kudhanii shan[§] kaffaluu ti.

⁸ « «Nami waadaa gale sun hiyyeessa te'ee shallaggii san kaffaluu yoo dadhabe, nama kenniisaaf waadaa gale san fuula hayyichaa dura dhikeessuu ti; hayyichille gatii inni kaffaliisaaf dande'utti shallaguu ti.

⁹ « «Wonni inni kenniisaaf waadaa gale sun horii kennansa ana Mootii Waan Maraatiif fudhatama qabu yoo te'e, horiin akkasii ka ana Mootii Waan Maraatiif kenname woyyuu hin te'a.

¹⁰ Nami sun kennansa dhikaate san dansaa hama'aan yookiin hamaa dansa'aan hin jijjiirin yookiin bakka hin buusin; horii tokko horii dhibi'iin bakka yoo buuse, horiin sun lamaanuu ana Mootii Waan Maraatiif woyyoomanuu ti.

¹¹ Wonni inni ana Mootii Waan Maraatiif kenniisaaf waadaa gale sun horii akka aadaa dhugeeffanna'aatitti ka qulqulluu hin te'in, ana Mootii Waan Maraatiif kenniisaaf ka fudhatama hin qanne yoo te'e, horiin sun hayyicha dura dhikaatuu ti.

¹² Hayyichi horii san dansaa yookiin badaa te'uu isaa ilaalee shallaguu ti. Achiin duuba shallaggiin sun akkuma hayyichi shallagetti hin teeti.

¹³ Abbichi horii san wodatiisa yoo barbaade, shallaggii sanitti harka shan keessaa harka tokko itti dabaluu ti.

¹⁴ « «Nami tokko mana ifii ana Mootii Waan Maraatiif woyyuu akka te'u yoo adda baase, hayyichi manni sun dansaa yookiin badaa te'uu isaa ilaalee shallaguu ti. Achiin duuba shallaggiin sun akkuma hayyichi shallagetti hin teeti

¹⁵ Abbichi mana ifii adda baase sun mana san wodatiisa yoo barbaade, shallaggii sanitti harka shan keessaa harka tokko itti dabaluu ti. Manni sun deebi'ee ka isaa hin te'a.

¹⁶ « «Nami tokko lafa maatii ifii irraa dhaale irraa fichaa kutee ana Mootii Waan Maraatiif adda baasee kennansa yoo dhikeesse, latti sun haga sanyii itti facaafantuutiin shallagantuu ti; sanyiin itti facaafantu garbuu kiiloogi-raama dhibba tokko, latti sun meetii giraama dhibba shanii fi torbaatamatti* hin shallaganti.

¹⁷ Nami sun fichaa ifii san yennaa jila woggaa shantameesso'ootitti adda baasee yoo kenne, shallaggiin sun akkuma hayyichi murteesse sanitti te'a.

¹⁸ Inni fichaa ifii san woggaa shantameesso'ootiin duuba yoo kennee jiraate ammoo, hayyichi akka laakkossa woggoota haga jila woggaa shantameesso'oo ta itti aantuutitti woggoota hafaneeranu ilaalee, shallaggii fichaa sanii irraa dhidhisuu ti.

¹⁹ Abbichi fichaa ifii kenne sun deebisee wodatiisa yoo barbaade, gatii fichaan itti shallagamee sanitti harka shan keessaa harka tokko itti dabaluu ti; fichaan sun ka isaa hin te'a.

²⁰ Te'uu malee fichaa san yoo hin wodatin yookiin nama dhibi'itti yoo gurgure deebi'ee fichaa san wodatiisa hin dande'u.

²¹ Fichaan sun woggaa shantameesso'ootitti† yennaa gad lakkifamu, ka woyyoome te'ee, akka fichaa ana Mootii Waan Maraatiif kennamiisaaf murteeffameetitti, qabeenna hayyootaa hin te'a.

[‡] 27:7 Meetii giraama dhibba tokkoo fi torbaatamii tokko: Afaan Ibrootaatiin *sheeqelii kudhanii shan jedha*. [§] 27:7 Meetii giraama dhibba tokkoo fi kudhanii shan: Afaan Ibrootaatiin *sheeqelii kudhan jedha*.

* 27:16 Meetii giraama dhibba shanii fi torbaatama: Afaan Ibrootaatiin *Sheeqelii shantama jedha*. † 27:21 Woggaa shantameesso'ootitti: Afaan Ibrootaatiin *yowbeel jedh*.

²² « Nami tokko fichaa bitate ka lafa maatii ifii irraa dhaale hin te'in, ana Mootii Waan Maraatiif adda yoo baase,

²³ hayyichi shallaggii fichaa sanii haga jila woggaa shantameesso'ootitti laakkowee shallaguu ti; namichille akka waan Mootii Waan Maraatiif woyyuu te'eetitti guyyuma san kaffaluu ti.

²⁴ Jila woggaa shantameesso'ootitti fichaan sun abbicha lafaa ka qara inni irraa bite saniif hin deebi'a.

²⁵ Shallaggiin martinuu akka madaallii addee woyyitti'ititti te'uu ti.

²⁶ « Te'uu malee angafi hori'ii duruuyyuu ka ana Mootii Waan Maraa waan te'eef, eennulle angafa hori'ii ana Mootii Waan Maraatiif adda baasuu hin dande'u; angafa jabbii loonii, angafa ilmoolee hoole'ee yookiin re'e'ee te'ulle ka ana Mootii Waan Maraa ti.

²⁷ Horii qulqulluu hin te'in yoo te'e, gatii itti shallagame harka shan keessaa harka tokko itti dabalee wodatuu ti. Inni yoo hin wodatin, gatii itti shallagametti gurguramuu ti.

²⁸ « Wonni ana Mootii Waan Maraatiif kennamiisaaf murteeffame martinuu irra caalaa woyyuu waan teeteef, wonni nami naaf kenniisaaf murteesse horiin, nami, latti maatii ifii irraa inni dhaale tokkolle hin gurguramin yookiin hin wodamin.

²⁹ Namalle yoo te'e hin wodamin; inni ijjeefamuu qaba.

³⁰ « Waan latti baachu mara keessaa, midhaan biyyeen baachu yookiin midhaan mukaalle te'u kudhan keessaa tokko ka ana Mootii Waan Maraa ti. Ana Mootii Waan Maraatiifille ka woyyoome.

³¹ Nami kennansa ifii ka kudhan keessaa tokko kenne san wodatiisa barbaadu, gatii kennansa saniititti, harka shan keessaa harka tokko itti dabalee wodatuu ti.

³² Horii keessaa kudhan keessa tokko, ka laakkowamiisaaf ulee tissitootaa jala dabaranu mara keessaa kudhaneessoon, ka ana Mootii Waan Maraatiif woyyoome te'uu ti.

³³ Horiin kudhaneesso'oo sun badaa yookiin dansaalle te'u, nami kennu sun hin filin yookiin bakka hin buusin; horii tokko horii dhibi'ii bakka yoo buuse, lamaanuu ana Mootii Waan Maraatiif woyyoomanuu ti; wodamiisaaf hin dande'an» jedhi» jedhe.

³⁴ Kun ajaja Mootiin Waan Maraa gaara Siina'aa irratti kolbaa Israa'eliitiif karaa Muuse'eetiin kenne.

Kitaaba Seera Laakkossaa Seensa

Kitaab seera laakkossaa kolbaan Israa'elii gaara Siina'aa yennaa lakkisaneen jalqabaneen, haga lafa Waaqi isaaniif kenniisaaf waadaa gale gara aduun baatu geyanutti, dabarsii isaanii ta gara woggaa afurtamaa hima. Maqaan kitaaba kanaa dabarsii kitaaba kanaa keessaa kutaa ifatti mudhattu odeessa; kunille Israa'elooti gaara Siina'aa lakkisaneen deemiisaan dura, akkasuma dhaloota tokkoon duuba, galaana Yordaanosiitiin gara aduun baatutti, Mo'aab keessatti, laakkossa Muuseen kolbaa laakkowe ilaala. Laakkossa lamaan san wodhakkaa yennaa jirtu keessatti Israa'elooti kibba Kana'aanii, Qaadesh Barnee geyaneeraniyyu. Teetuu malee karaa saniin gara lafa waadaan isaaniif galamee galiisa hin dandeenne. Adaala sanitti woggoota hedduu dabarsaneen duuba, gara lafa galaana Yordaanosiitiin gara aduun baatuu deemane. Kolbaan gariin achuma le'iisaaf murteeffattee, worri hafe ammoo galaana Yordaanosii gamatti bu'anee gara Kana'aanii deemiisaaf qopheeffatane.

Kitaab seera laakkossaa dabarsii worra yennaa hedduu rakkoon isaan irra yennaa dhaqqaddu sodaatuutii fi addii kutatuu, ka Waaqaa fi Muusee Waaqi soorressa isaanii akka te'uuf muude irratti ka'uu ti. Isaan worra hin ajajannee fi dadhaboolee te'anulle, Waaqi addatamumma'aan kolbaa ifii akka kunuunse dabarsii odeessitu; akkasuma Muuseen yennaa tokko tokko ossa dhabulle, Waaqaa fi kolbaa ifitiif jabaatee akka dhaabbate dabarsii odeessitu.

Haadhoo Dubbi'ii

Israa'elooti Gaara Siina'aa Lakkisaneen Deemiisaaf Qophowane **1:1–9:23**

Laakkossa Jalqabaa **1:1–4:49**

Seeraa Fi seeraa Ittiin Bulmaataa Ka Adda Addaa **5:1–8:26**

Jila Irra Dabaramaa Ta Lammeesso'oo **9:1-23**

Gaara Siina'aatii Gara Mo'aabii **10:1–21:35**

Waan Mo'aab Keessatti Te'e **22:1–32:42**

Yaadannoo Ideensa Gibxii Irraa Gara Mo'aabii **33:1-49**

Galaana Yordaanosii Gamatti Bu'iisaan Dura Gorsa Kenname **33:50–36:13**

Laakkossa Kolbaa Israa'elii Ka Jalqabaa

¹ Kolbaan Israa'elii biyya Gibxi'iitii baatee woggaa lammeesso'ootitti, ji'a lammeesso'oo guyyaa jalqabaa, goomolee Siina'aa keessatti, Dunkaanii Woldeenna'aa keessatti Waaqi Muuse'etti dubbate. Inni Muuse'een,

² «Kolbaa Israa'elii duudii akka gosa gosa isaaniititti, akka maatii maatii isaaniititti dhiira ka te'ane mara laakkowiitii maqaa isaanii galmeessi!

³ Atii fi Aaron kolbaa Israa'elii keessaa dhiira worra woggaan isaanii diddamaatii fi diddamaa olii, ka dhaqanee loluu dande'anuu mara akka kutaa kutaa isaaniititti laakkowa'a!

⁴ Gosa tokko tokkooyyuu keessaa nami tokko, ka soorressa maatii ifii te'e, isin qarqaaruu ti.

⁵ Maqaan worra isin qarqaaruu:

gosa Ruubenii keessaa, ilma Shiide'urii Eliizur;

⁶ gosa Shimi'oonii keessaa, ilma Zuriishadaayii Shiilumii'el;

⁷ gosa Yihuda'aa keessaa, ilma Aminaadaabii Nahasoon;

⁸ gosa Yisaakorii keessaa, ilma Zuwaarii Nataani'el;

⁹ gosa Zebulonii keessaa, ilma Helonii Eliiyaab;

- 10 ilmaan Yoseefii gosa Efreemii keessaa, ilma Amiihudii Eliishaama'a; gosa Minaase'ee keessaa, ilma Phedaazurii Gamaali'el;
- 11 gosa Beniyaaminii keessaa, ilma Giidewonii Abiidaan;
- 12 gosa Daanii keessaa, ilma Amiishadaayii Ahii'ezer;
- 13 gosa Aheerii keessaa, ilma Okraanii Fagi'el;
- 14 gosa Gaadii keessaa, ilma Dewu'elii Elii'aasaaf;
- 15 gosa Naftaalemii keessaa, ilma Enaanii Ahiira'a» jedhe.
- 16 Kolbaa hedduu keessaa, soressitooti gosa abbootii isaanii ta durii, maatii kolbaa Israa'eliitiif worri mataa te'anee filamane isaan kana.
- 17 Muuse'ee fi Aaron worra maqaan isaanii dhowame kana fudhatanee,
- 18 ji'a lammeesso'oo guyyaa jalqabaa, wolde'a gumi'ii mara wolitti qabane, dhiira worra woggaa diddamaatii fi diddamaa olii, akka gosaa fi maatii isaaniititti, tokko tokkoon maqaan isaanii galmeessane.
- 19 Akkuma Mootiin Waan Maraa isa ajajetti, Muuseen goomolee Siina'aa keessatti isaan laakkowe.
- 20 Sanyii Ruubenii ilma angaficha Israa'elii keessaa dhiirti worri woggaan isaanii diddamaatii fi diddamaa olii, ka dhaqanee loliisaaf dande'anuu martinuu, akka gosaa fi maatii isaaniititti, maqaan isaanii tokko tokkoon galmeeffame.
- 21 Gosa Ruubenii keessaa worri laakkowame 46,500.
- 22 Sanyii Shimi'oonii keessaa dhiirti worri woggaan isaanii diddamaatii fi diddamaa olii, ka dhaqanee loliisaaf dande'anuu martinuu akka gosaa fi maatii isaaniititti maqaan isaanii tokko tokkoon galmeeffame.
- 23 Gosa Shimi'oonii keessaa worri laakkowame 59,300.
- 24 Sanyii Gaadii keessaa dhiirti worri woggaan isaanii diddamaatii fi diddamaa olii, ka dhaqanee loliisaaf dande'anuu martinuu, akka gosaa fi maatii isaaniititti, maqaan isaanii tokko tokkoon galmeeffame.
- 25 Gosa Gaadii keessaa worri laakkowame 45,650.
- 26 Sanyii Yihuda'aa keessaa dhiirti worri woggaan isaanii diddamaatii fi diddamaa olii, ka dhaqanee loliisaaf dande'anuu martinuu, akka gosaa fi maatii isaaniititti, maqaan isaanii tokko tokkoon galmeeffame.
- 27 Gosa Yihuda'aa keessaa worri laakkowame 74,600.
- 28 Sanyii Yisaakorii keessa dhiirti worri woggaan isaanii diddamaatii fi diddamaa olii, ka dhaqanee loliisaaf dande'anuu martinuu, akka gosaa fi maatii isaaniititti, maqaan isaanii tokko tokkoon galmeeffame.
- 29 Gosa Yisaakorii keessaa worri laakkowame 54,400.
- 30 Sanyii Zebuloonii keessaa dhiirti worri woggaan isaanii diddamaatii fi diddamaa olii, ka dhaqanee loliisaaf dande'anuu martinuu, akka gosaa fi maatii isaaniititti, maqaan isaanii tokko tokkoon galmeeffame.
- 31 Gosa Zebuloonii keessaa worri laakkowame 57,400.
- 32 Ilmaan Yoseefii keessaa, sanyii Efreemii keessaa dhiirti worri woggaan isaanii diddamaatii fi diddamaa olii, ka dhaqanee loliisaaf dande'anuu martinuu, akka gosaa fi maatii isaaniititti, maqaan isaanii tokko tokkoon galmeeffame.
- 33 Gosa Efreemii keessaa worri laakkowame 40,500.
- 34 Sanyii Minaase'ee keessaa dhiirti worri woggaan isaanii diddamaatii fi diddamaa olii, ka dhaqanee loliisaaf dande'anuu martinuu, akka gosaa fi maatii isaaniititti, maqaan isaanii tokko tokkoon galmeeffame.
- 35 Gosa Minaase'ee keessaa worri laakkowame 32,200.
- 36 Sanyii Beniyaaminii keessaa dhiirti worri woggaan isaanii diddamaatii fi diddamaa olii, ka dhaqanee loliisaaf dande'anuu martinuu, akka gosaa fi maatii isaaniititti, maqaan isaanii tokko tokkoon galmeeffame.

³⁷ Gosa Beniyaaminii keessaa worri laakkowame 35,400.

³⁸ Sanyii Daanii keessaa dhiirti worri woggaan isaanii diddamaatii fi diddamaa olii, ka dhaqanee loliisaaf dande'anu martinuu, akka gosaa fi maatii isaaniititti, maqaan isaanii tokko tokkoon galmeeffame.

³⁹ Gosa Daanii keessaa worri laakkowame 62,700.

⁴⁰ Sanyii Asheerii keessaa dhiirti worri woggaan isaanii diddamaatii fi diddamaa olii, ka dhaqanee loliisaaf dande'anu martinuu, akka gosaa fi maatii isaaniititti, maqaan isaanii tokko tokkoon galmeeffame.

⁴¹ Gosa Asheerii keessaa worri laakkowame 41,500.

⁴² Sanyii Naftaalemii keessaa dhiirti worri woggaan isaanii diddamaatii fi diddamaa olii, ka dhaqanee loliisaaf dande'anu martinuu, akka gosaa fi maatii isaaniititti, maqaan isaanii tokko tokkoon galmeeffame.

⁴³ Gosa Naftaalemii keessaa worri laakkowame 53,400.

⁴⁴ Muuseen, Aaronii fi sooreyyiin Israa'elii kudhanii lamaan maatii ifii bakka bu'anee worri laakkowane isaan kana.

⁴⁵ Dhiirti Israa'elii worri woggaan isaanii diddamaatii fi diddamaa olii, ka dhaqanee loliisaaf dande'anu martinuu akka maatii isaaniititti laakkowamane.

⁴⁶ Worri laakkowame martinuu wolumatti 603,550.

⁴⁷ Te'uu malee, maatiin gosa Lewwootaa ammoo gosa dhibii woliin hin laakkowanne.

⁴⁸ Sababille Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

⁴⁹ «Gosa Lewwootaa hin laakkowin yookiin isaan laakkossa Israa'eloota dhibiititti hin dabalini!

⁵⁰ Tanaa mannaa, worra Lewwootaa dunkaanii dhugaa bayaa ta ani itti waqonfamuu fi meya isii keessaa, waan isi'ii mara irratti itti gaafatantoota isaan godhi. Isaan isi'ii fi meya isi'ii mara ba'atanuu ti; isii keessa tajaajilaa, adaala isi'ii qubatanuu ti.

⁵¹ Yennaa dunkaanii dhugaa bayaa buqqisanu, worri Lewwootaa buqqisuu ti; yennaa dhaabanulle worri Lewwootaa dhaabuu ti. Nami dhibiin ka isii bira dhage ijjeefamuu ti.

⁵² Israa'elooti dhibiin golii golii ifitiin baandiraa ifii biratti dunkaanii dhaabatane adduma addaan qubatanuu ti.

⁵³ Lewwooti ammoo akka ani Israa'elootatti hin mufanne adaala dunkaanii dhugaa bayaatitti qubatanuu ti. Lewwooti dunkaanii dhugaa bayaa eegiisaaf itti gaafatantoota te'anuu ti» jedhe.

⁵⁴ Israa'elooti waan mara akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajajetti godhane.

2

Addee Quttumaa Keessatti Gosa Gosaan Akka Itti Qubatane

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'ee fi Aaroniin,

² «Israa'elooti Dunkaanii Woldeenna'aa irraa fagaatane, nami tokko tokkooyyuu baandiraa maatii ifii jala, adaala Dunkaanii Woldeenna'aatitti qubatu ti» jedhe.

³ Ila boru'uu, karaa aduun baatuun, goliin quttuma Yihuda'aa loltoota ifii woliin baandiraa ifii jala hin qubatan. Sooressi kolbaa Yihuda'aa, ilma Aminaadaabii Nahasoon.

⁴ Goliin isaa loltooti laakkowamane 74,600.

⁵ Gosi Yisaakorri isaanitti aananee hin qubatan. Sooressi kolbaa Yisaakorri, ilma Zuwaarii Nataani'el.

⁶ Goliin isaa loltooti laakkowamane 54,400.

⁷ Gosi Zebuloonii isaanitti hin aanan. Sooressi kolbaa Zebuloonii, ilma Helonii Eliiyaab.

⁸ Goliin isaa loltooti laakkowamane 57,400.

⁹ Addee quttumaa ta worra Yihuda'aa keessa akka golii golii isaaniititti akka qubatanu, namooti laakkowamane marti wolumatti 86,400. Worri dursee duula bayu isaan kana.

¹⁰ Goliin quttuma Ruubenii gara kibbaatiin, baandiraa ifii jala hin qubatan. Sooressi kolbaa Ruubenii ilma Shiide'urii Eliizur.

¹¹ Goliin isaa loltooti laakkowame 46,500.

¹² Gosi Shimi'oonii isaanitti aananee hin qubatan. Sooressi kolbaa Shimi'oonii, ilma Zuriishadaayii Shiilumii'el.

¹³ Goliin isaa loltooti laakkowame 59,300.

¹⁴ Gosi Gaadii isaanitti hin aanan. Sooressi kolbaa Gaadii, ilma Dewu'elii Elii'aasaaf.

¹⁵ Goliin isaa loltooti laakkowame 45,650.

¹⁶ Quttuma Ruubenii keessaa dhiirti loltooti akka golii golii isaaniititti laakkowame wolumatti 151,450. Worri kun lammeessoo te'anee duula hin bayan.

¹⁷ Achiin duuba Dunkaaniin Woldeenna'aatii fi goliin Lewwootaa golii worra qaraatii fi golii worra duubaa wodhakkaa deeman. Isaan adduma addaan bayanee akkuma dur addee quttuma ifii jiranuutitti baandiraa ifii qabatanee hin deeman.

¹⁸ Goliin gosa Efreemii loltoota ifii woliin karaa aduun seentuun baandiraa ifii jala hin qubatan. Sooressi gosa Efreemii, ilma Amiihudii Eliishaama'a.

¹⁹ Goliin isaa loltooti laakkowamane 40,500.

²⁰ Gosi Minaase'ee isaanitti aananee hin qubatan. Sooressi kolbaa Minaase'ee, ilma Phedaazurii Gamaali'el.

²¹ Goliin isaa loltooti laakkowamane 32,200.

²² Gosi Beniyaaminii isaanitti hin aanan. Sooressi kolbaa Beniyaaminii, ilma Giidewonii Abiidaan.

²³ Goliin isaa loltooti laakkowamane 35,400.

²⁴ Quttuma Efreemii keessaa dhiirti akka golii golii ifiititti laakkowamane wolumatti 108,100. Isaan sadeessoo te'anee duula hin bayan.

²⁵ Goliin quttuma gosa Daanii loltoota ifii woliin gara kaabaatiin, baandiraa ifii jala hin qubatan. Sooressi kolbaa Daanii ilma Amiishadaayii Ahii'ezer.

²⁶ Goliin isaa loltooti laakkowamane 62,700.

²⁷ Gosi Asheerii isaanitti hin aanan. Sooressi kolbaa Asheerii ilma Okraanii Fagi'el.

²⁸ Goliin isaa loltooti laakkowamane 41,500.

²⁹ Gosi Niftaalemii isaanitti hin aanan. Sooressi kolbaa Niftaalemii, ilma Enaanii Ahiira'a.

³⁰ Goliin isaa loltooti laakkowamane 53,400.

³¹ Quttuma Daanii keessaa dhiirti akka golii golii isaaniititti worri laakkowamane 157,600. Isaan dhuma irra baandiraa ifii qabatanee hin bayan.

³² Israa'elooti akka maatii maatii isaaniititti, akka golii golii isaaniititti loltooti laakkowamane martinuu wolumatti 603,550.

³³ Lewwooti ammoo akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajajetti gosa Israa'elootaa dhibii woliin hin laakkowanne.

³⁴ Maarre Israa'elooti waan mara akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajaje godhanee, baandiraa ifii qabatanee, golii golii'ii fi maatii maatii ifii woliin duula bayane.

3

Lewwoota

¹ Mootiin Waan Maraa gaara Siina'aa irratti yennaa Muuse'etti dubbate, maatiin Muuse'ee fi Aaronii isaan kana.

² Ilmaan Aaronii angafichi Naadaab, kuun Abiihuu, Ele'azaarii fi Itaamaar.

³ Isaan kun worra hayyoota te'anee hujii hayyumma'aa hujiisaaf muu-damane.

⁴ Naadaabii fi Abiihuun goomolee Siina'aatitti ibidda hin ajajamiiniin Mootii Waan Maraa duratti ciincaa yennaa dhikeessane du'ane. Isaan ijoollee hin qabanu. Tanaaf Ele'azaarii fi Itaamaar qofatti yennaa abbaan isaanii Aaron jiru hayyoota te'ee tajaajilane.

⁵ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

⁶ «Gosa Lewwi'ii fidiitii, hayyicha Aaron akka qarqaaranuuf fuula isaa duratti dhikeessi.

⁷ Isaan Dunkaanii Woldeenna'aa duratti isaa fi wolde'a gumi'ii duudi'iif, hujii dunkaanii dhugaa bayaa hujan.

⁸ Isaan meya Dunkaanii Woldeenna'aa mara eegaa, hujii dunkaanii dhugaa bayaa keessaalle hujiisaan kolbaa Israa'elii tajaajilan.

⁹ Lewwooti Israa'eloota keessaa Aaronii fi ilmaan isaatiif waan kennama-neef, ati Aaronii fi ilmaan isaatiif isaan kenni.

¹⁰ Aaronii fi ilmaan isaa akka hujii hayyumma'aa hujanuuf ati isaan muudi. Nami dhibiin addee woyyittii bira yoo dhikaate ammoo ijjeefamuu ti» jedhe.

¹¹ Mootiin Waan Maraa ammalle Muuse'een,

¹² «Kunoo ani Israa'eloota keessaa addee ilma angaficha kennansa fud-hadhu, Israa'eloota mara keessaa ani Lewwoota fudhadheera. Tanaaf, Lewwooti kiyya.

¹³ Ani Mootii Waan Maraa ti; angafooti marti kiyya waan te'aneef, ani biyya Gibxi'ii keessatti, angafoota worra Gibxootaa mara yennaa ijjeese, angafoota hori'iitii fi angafoota ijoollee Israa'elootaa mara akka isaan kiyya te'anu filadheera. Tanaaf Lewwooti kiyya te'aneeran» jedhe.

Laakkowamiisaa Lewwootaa

¹⁴ Mootiin Waan Maraa goomolee Siina'aa keessatti Muuse'een,

¹⁵ «Lewwoota akka maatii maatii isaaniitii fi akka fira isaaniititti, dhiira dhalattee ji'a tokkootii fi ji'a tokko olii mara laakkowi» jedhe.

¹⁶ Maarre Muuseen akkuma Mootiin Waan Maraa ajajetti isaan laakkowe.

¹⁷ Maqaan ilmaan Lewwi'ii Gershoon, Qehaatii fi Meraari.

¹⁸ Maqaan ilmaan Gershoonii akka fira fira isaaniititti Liibnii fi Shime'i.

¹⁹ Maqaan ilmaan Qehaatii akka fira fira isaaniititti Amraam, Yizhaar, Hebroonii fi Uzii'el.

²⁰ Maqaan ilmaan Meraarii akka fira fira isaaniititti Maahilii fi Mushiiis; isaan kun akka fira fira abbootii isaanii ta duriititti maatii Lewwootaa ti.

²¹ Firri Liibniitii fi shime'ii sanyii Gershoonii ti. Isaan kun fira Gershoono-taa ti.

²² Laakkossi dhiira isaanii ta dhalattee ji'a tokkootii fi ji'a tokko olii wolumatti 7,500.

²³ Firri Gershootaa dunkaanii dhugaa bayaatiin duuba karaa aduun seentu qubatanuu ti.

²⁴ Sooressi fira Gershoonotaa, Eliyaafii ilma Laa'elii ti.

²⁵ Ilmaan Gershoonotaa Dunkaanii Woldeenna'aa keessatti dunkaanii dhugaa bayaa, irbuusa isi'ii woliin, gollaa Dunkaanii Woldeenna'aa,

²⁶ gollaa badhinna dalleya keessaa, gollaa badhinna dalleya keessaa ka adaala dunkaanii dhugaa bayaatii fi addee ciinca'aa, wodaroota isi'ii, hujii waan kanaan wol qabatte maraayyuu eegiisaaf itti gaafatamummaa qaban.

²⁷ Amraam, Yizhaar, Hebroonii fi Uzii'el gosa Qehaatii ti; isaan kun maatii Qehaatii ti.

²⁸ Laakkossi dhiira isaanii ta dhalattee ji'a tokkootii fi ji'a tokkoo olii 8,600. Isaan kun addee woyyittii eegiisaaf itti gaafatamummaa qaban.

²⁹ Firri Qehaatii dunkaanii dhugaa bayaa gara kibbaatitti qabatanuu ti.

³⁰ Sooressi fira Qehaatii, ilma Uzii'elii Elzaafaan.

³¹ Isaan kun Saanduqa Gondooro'oo, xarapheessaa, waan issaa irra keyanu, addee ciinca'aa, meya addee Woyyitti'ii ka isaan itti fayyadamanu, golla'aa fi hujii waan kanaan wol qabaatte mara eegiisaaf itti gaafatamummaa qaban.

³² Ilmi Aaronii Ele'azaar sooreessa bulchaa Lewwootaa ti; inni worra addee Woyyittii eegiisaaf itti gaafatantoota te'ane irratti muudame.

³³ Firri Maahiliitii fi Mushii fira Meraarii jala jiran; isaan kun fira Meraarii ti.

³⁴ Laakkossi dhiira isaanii ta dhalattee ji'a tokkootii fi ji'a tokkoo olii 6,200.

³⁵ Sooressi fira Meraarii ilma Abiihaayilii Zurii'el. Isaan dunkaanii dhugaa bayaa cinaa gara kaabaatiin qabatanuu ti.

³⁶ Ilmaan Meraarii mikikkila dunkaanii dhugaa bayaa, danqaraa, utubaa, miila utuba'aa, hujii waan kanaan wol qabate mara,

³⁷ utubaa badhinna dalleya keessaatitti naannowaneeranu, miila utubooti dhaabbatanu waliin, chikaala'aa fi wodaroo dunkaani'ii eegiisaaf muudamane.

³⁸ Muuseen, Aaronii fi ilmaan isaa dunkaanii dhugaa bayaa san karaa aduun baatuun Dunkaanii Woldeenna'aa dura gara ila boru'uutiin qabatanuu ti. Isaan Israa'eloota bakka bu'anee addee woyyittii eegiisaaf itti gaafatantoota. Nami dhibiin ka itti dhikaate ijjeefamuu ti.

³⁹ Muuse'ee fi Aaron akka Mootiin Waan Maraa isaan ajajetti Lewwoota keessaa akka fira fira isaaniititti worri laakkowane, dhiirti martinuu ta dhalattee ji'a tokkootii fi ji'a tokkoo olii wolumatti 22,000.

⁴⁰ Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Israa'eloota keessaa dhiira angafa ta ji'a tokkootii fi ji'a tokkoo olii mara laakkowiitii, maqaa maqa'aan galmeessi.

⁴¹ Ani Mootii Waan Maraa ti; ati addee angafoota Israa'elootaa mara worra Lewwootaa, addee angafoota horii Israa'elootaa mara horii worra Lewwootaa naaf fuudhi» jedhe.

⁴² Maarre Muuseen akkuma Mootiin Waan Maraa isa ajaje Israa'eloota keessaa dhiira angafoota mara laakkowe.

⁴³ Dhiirti angafooti ta ji'a tokkootii fi ji'a tokkoo olii ka maqaa maqa'aan galmeeffamane wolumatti 22,273.

⁴⁴ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'etti dubbatee,

⁴⁵ «Ani Mootii Waan Maraa ti. Ati addee angafoota Israa'elootaa mara Lewwoota, addee angafoota horii Israa'elootaa mara angafoota horii Lewwootaa naaf fuudhi. Lewwooti kiyya te'anuu ti.

⁴⁶ Laakkossi dhiira angafoota Israa'elootaa dhibba lamaa fi torbaatamii sadiin laakkossa Lewwootaa caalan. Isaan kana wodiisaaf,

⁴⁷ tokko tokkoo isaaniitiif akka sheeqelii addee woyyitti'iititti, meetii sheeqelii shan shan fuudhi. Meetiin sheeqeliin tokko geraa diddama.

⁴⁸ Beesee Israa'eloota irraa fuudhiitii, marroo ilmaan angafoota Israa'elii 273 ka wodamuu qabanuu saniif Aaronii fi ilmaan isaatiif kenni!» jedhe.

⁴⁹ Maarre Muuseen beesee ilmaan angafoota Israa'elootaa ka laakkossi isaanii Lewwoota caalee ka wodamiisaa san fuudhe.

⁵⁰ Beeseen inni Israa'eloota worra angafoota te'anee dhalatane irraa fuudhe, akka sheeqelii addee woyyitti'iititti meetiin tun gara kiiloogiraama 15.5 teeti.

⁵¹ Muuseen akkuma Mootiin Waan Maraa isa ajajetti beesee isaan ittiin wodamane san Aaronii fi ilmaan isaatiif kenne.

4

Hujii Lewwoota Sanyinii Qehaatii

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'ee fi Aaroniin,

² «Lewwoota keessaa ilmaan Qehaatii akka firaa fi maatii maatii isaaniititti,

³ Dunkaanii Woldeenna'aa keessa tajaajiliisaaf dhiira dhuttu, ta woggaa soddomaa haga woggaa shantamaa mara laakkowi.

⁴ Hujii ilmaan Qehaatii Dunkaanii Woldeenna'aa keessatti waan irra caalaa woyyuu te'e eegiisa.

⁵ Israa'elooti yennaa addee guttumaatii godaaniisaaf qophowanu, Aaronii fi ilmaan isaa ol seenanee gollaa Saanduqa Gondooro'oo ta dhugaa bayaa gollu fuudhanee Saanduqa Gondooro'oo sanitti maranuu ti.

⁶ Achiin duuba gogaa hoolee galaanaa itti uffisanuu ti; woyaa bifi isi'ii guutumatti bifa cuquliisaa teete irra diriirsanee, muka rare'een ba'atanu addee isaaniititti galchanuu ti.

⁷ «Xarapheessaa daabboo Waaqa dura dhikaattu irra keyanu irra woyaa bifa cuquliisaa afanee, gabataa, qorii, muduunu'uu fi kobola kennansa daadhii woyni'ii ittiin dhikeessanu ka worqii irraa hujamane, daabboolle yennaa mara irra keyanuu ti.

⁸ Woyaa diintuu irra afanee, gogaa hoolee galaanaa irra buusanee, muka rare'een ba'atanu addee isaaniititti galchanuu ti.

⁹ «Woyaa bifa cuquliisaa teete san fuudhanee, waan issaa irra keyanuu fi ifa isi'ii waliin, qaraphaa issaa ittiin dhaanfanu, qorii daadha'aa, meya zayiti'iitii fi meya isi'ii maratti uffisanuu ti.

¹⁰ Achiin duuba isaan meya isi'ii mara waliin gogaa hoolee galaanaatiin maranee goongaa ittiin ba'atu irra keyanuu ti.

¹¹ «Addee ciinca'aa ta worqii irraa hujante irralle woyaa bifa cuquliisaa afanee, gogaa hoolee galaanaatiin maranee, muka rare'een ba'atanu ka isi'iille addee isaaniititti galchanuu ti.

¹² «Meya addee woyyitti'itti ittiin tajaajilanu mara fuudhanee, woyaa bifa cuquliisaa keessa keyanee, gogaa hoolee galaanaatiin maranee, goongaa ittiin ba'atanu irra keyanuu ti.

¹³ «Addee ciinca'aa ta sageettuu irraa hujante san irraa daadhaa haranee, woyaa dhiillee irra afanuu ti.

¹⁴ Achiin duuba meya addee ciinca'aatitti ittiin tajaajilanu mara, waan ibidda irratti bobeessanu, filaa foonii, akkaafaa, qorii dhiiga fiffixanu qabattu, addee ciinca'aa ta sageettuu irraa hujante san irra keyanuu ti. Isaan gogaa hoolee galaanaa irra buusanee, muka rare'een ba'atanu addee isaaniititti galchanuu ti.

¹⁵ «Yennaa addee guttumaatii ka'anuu, Aaronii fi ilmaan isaa meya woyyichaa fi waan tajaajila kanaaf te'u mara itti uffisaneen duuba, ilmaan Qehaatii dhufanee ba'atanuu ti. Akka hin duune ammoo meya woyyicha san tuquu hin qabanu. Hujii ilmaan Qehaatii Dunkaana Woldeenna'aatii fi waan Dunkaanii Woldeenna'aa keessaa ba'atiisa.

¹⁶ «Ilmi Aaronii hayyichaa Ele'azaar, zayitii isse'ee, hixaana foolee tolu, kennansa midhaanii ka guyyaa maraa, zayitii muudaa, Dunkaanii Woyyitti'ii fi waan isii keessaa, meya isi'ii keessaa woyyicha mara eegiisaaf itti gaafatamummaa qaba» jedhe.

¹⁷ Ammalle Mootiin Waan Maraa Muuse'ee fi Aaronitti dubbatee,

¹⁸ «Maatiin Qehaatii, fira Lewwi'ii keessaa hin godhina'a.

¹⁹ Qehaatoti waan irra caalaa Woyyuu te'etti dhikaatanee akka hin duune, Aaronii fi ilmaan isaa addee woyyittii seenanee waan isaan godhiisa malanee fi waan isaan ba'atiisa malane itti mudhisanuu ti.

²⁰ Ammoo isaan akka hin duuneef, waan woyyuu san yennaa diqqo'oofille ilaaliisaaf ol hin seenin» jedhe.

Hujii Sanyii Gershoonotaa

²¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

²² «Gershoonota akka fira firaa fi maatii maatii isaaniititti laakkowi.

²³ Dhiira woggaa soddomaa haga woggaa shantamaa, ta Dunkaanii Wold-eenna'aa keessa tajaajiliisaaf dandeettu mara laakkowi.

²⁴ «Tajaajilli fira Gershoonotaa ka hujiisaatii fi ba'atiisaa ka asii gadii kana:

²⁵ Isaan gollaa dunkaanii dhugaa bayaa, gollaa Dunkaanii Woldeenna'aa, irbuusa isi'iitii fi gogaa hoolee galaanaa ka irbuusa isi'ii gollu, gollaa gara seensuma Dunkaanii Woldeenna'aa,

²⁶ gollaa badhinna dalleya keessaa ka dunkaanii dhugaa bayaatii fi addee ciinca'aa marsu, wodaroota golla'aatii fi meya tajaajila waan kanaa mara ba'atiisa; isaan tajaajila meya kanaaf male mara godhan.

²⁷ Tajaajilli Gershoonotaa marti, ba'aan yookiin hujii dhibii hujiisi akka Aaronii fi ilmaan isaa isaanitti mudhisanetti hujanuu ti; waan isaan ba'atiisaaf itti gaafatamummaa qabanu isin isaanitti hima'a.

²⁸ Hujii fira Gershoonii Dunkaanii Woldeenna'aa keessa tajaajilli isaanii kana. Hujii isaanii ilma Aaronii hayyichaa Itaamaaritti toowata.

Hujii Sanyii Meraarotaa

²⁹ «Ilmaan Meraarii akka fira firaa fi akka maatii maatii isaaniititti,

³⁰ worra woggaa soddomaa haga woggaa shantamaa, ka Dunkaanii Wold-eenna'aa keessa hujiisaaf dande'anu mara laakkowi.

³¹ Dunkaanii Woldeenna'aa keessa wonni ba'atiisaaf itti gaafatamanu mikikkila dunkaanii dhugaa bayaa, danqaraa isi'ii woliin, utubaa isi'iitii fi miila isiin ittiin dhaabbatu,

³² utubaa badhinna dalleya keessaa ka Dunkaanii Woldeenna'aatitti naan-nowaneeranu shafee utubooti sun ittiin dhaabbatanu woliin, chikaala dunkaani'ii, wodaroo dunkaani'ii, meya waan kanaa maraa fi waan tajaajila kanaan wol qabate mara ba'atiisa. Nami tokko tokkooyyuu waan inni ba'atiisa male itti himi.

³³ Tajaajilli fira Meraarii, toowannaa Itaamaarii ilma Aaronii hayyichaa jalatti, Dunkaanii Woldeenna'aa keessatti hujanu tana» jedhe.

Laakkowamiisa Lewwootaa

³⁴ Muuseen, Aaronii fi sooreyyiin wolde'a gumi'ii, sanyii Qehaatii akka fira fira isaaniitii fi akka maatii maatii isaaniititti,

³⁵ dhiira woggaa soddomaa haga woggaa shantamaa, ka Dunkaanii Wold-eenna'aa keessa tajaajiliisaaf dande'anu mara laakkowane.

³⁶ Laakkossi isaanii akka fira fira isaaniititti 2,750.

³⁷ Isaan kun akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajajetti, fira Qehaatotaa mara, worra Dunkaanii Woldeenna'aa keessa tajaajilanu, ka Muuse'ee fi Aaron laakkowane.

³⁸ Worri Gershoonotaa akka fira fira isaaniitii fi akka maatii maatii isaaniititti,

³⁹ dhiirti woggaa soddomaa haga woggaa shantamaa, ka Dunkaanii Wold-eenna'aa keessa tajaajiliisaaf dande'anu marti laakkowamane.

⁴⁰ Worri akka fira fira isaaniitii fi akka maatii maatii isaaniititti laakkowame laakkossi isaanii 2,630.

⁴¹ Isaan kun wolumatti fira Gershoonotaa ka Dunkaanii Woldeenna'aa keessa tajaajilane. Akkuma Mootiin Waan Maraa ajajetti Muuse'ee fi Aaron isaan laakkowane.

⁴² Worri Meraarotaa akka fira fira isaaniitii fi akka maatii maatii isaaniititti,

⁴³ dhiirti woggaa soddomaa haga woggaa shantamaa, ka Dunkaanii Wold-eenna'aa keessa tajaajiliisaaf dande'anu marti laakkowamane.

⁴⁴ Worri akka fira fira isaaniititti laakkowame laakkossi isaanii 3,200.

⁴⁵ Isaan kun wolumatti fira Meraarotaa ti. Akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajajetti Muuse'ee fi Aaron isaan laakkowane.

⁴⁶ Maarre Muuseen, Aaronii fi sooreyyiin wolde'a gumi'ii, sanyii Lew-wootaa akka fira fira isaaniitii fi akka maatii maatii isaaniititti,

⁴⁷ dhiira woggaa soddomaa haga woggaa shantamaa, ka hujii tajaajilaatii fi Dunkaanii Woldeenna'aa ba'atiisaa dande'anu mara laakkowane.

⁴⁸ Laakkossi isaanii 8,580.

⁴⁹ Akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajajetti nami tokko tokkooyyuu, maan akka hujuu fi maan akka ba'atu itti himame. Akka kanaan isaan akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajajetti laakkowamane.

5

Kolbaa Hin Qulqulloomin

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

² «Israa'elooti nama dhukkuba goga'aa farrisiisaa qabu, nama nafa hilaa isaa keessaa woy dhangala'u, nama reeffa tuqiisaan akka aadaa dhugeeffanna'aatitti qulqulluu hin te'in mara addee quttumaa keessaa akka baasanu ajaji.

³ Addee quttumaa ta ani odduu isaanii le'u, akka isaan hin batteessine, worra qulqulluu hin te'in dhiiraa fi dubartii addee quttumaa keessaa alatti baasi» jedhe.

⁴ Israa'elooti tana godhanee, addee quttuma keessaa alatti isaan baasane. Isaan akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajaje godhane.

Yakkaa Huje Faaci'atiisaa Fi Gatii Kaffaliisa

⁵ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

⁶ «Ati Israa'elootaan, «Nami tokko dhiirti yookiin dubartiin ana Mootii Waan Maraatiif addatamiisa dhabiisaan nama dhibii yennaa yakke, nami sun yakkaamessa.

⁷ Inni cubbuu huje san faaci'atuu ti. Yakkaa ifitiif gatii guutuu kaffaluu ti; harka shan keessaa harka tokko itti dabaleelle, nama yakke saniif kennuu ti.

⁸ Namichi yakkame sun du'ee firri aanti'ii ka gatii san fuudhu yoo dhabame ammoo, gatiin kaffalamu sun ka ana Mootii Waan Maraa ti; korbeessa hoole'ee ka yakkaa namichi hujeef, gumaa cubbu'uutiif kennamu san waliin hayyichaaf kennamuu ti.

⁹ Kennansi woyyichi Israa'elooti fiddu marti, hayyichaaf kennamuu ti.

¹⁰ Wonni hayyichaaf kenname kama hayyichaa ti» jedhi» jedhe.

Dubartoota Gaarayyeeffatumma'aan Bidhatamanu

¹¹ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

¹² «Ati Israa'elootaan, «Mootiin Waan Maraa: Dubartiin takka abbaa manaa ifitiif addatamuu dhabiiisaan

¹³ nama dhibii waliin yoo ratte, waan kana dhirsi isi'ii ka hin dhaggine yoo te'e, nami isii dhagge yoo hin jiraatin, battummaan isi'iille yoo hin mudhatin,

¹⁴ dhirsi isi'ii isii hinaafee mamee, isiin yoo battoottee jiraatte yookiin yoo hin battowin jiraatte,

¹⁵ Namichi sun niitii ifii san gara hayyichaa geessuu ti. Marroo isi'iitiif kennansa barbaachisu bullaa garbu'uulle kiiloo tokko geessuu ti. Kennansi kun kennansa midhaanii ka marroo hinaaffa'aatiif dhikaatu, ka yakkaa qaabachiisu waan te'eef, inni zayitii ejersaatii fi hixaana itti hin naqin.

¹⁶ « «Hayyichi dubartii san fidee, fuula Mootii Waan Maraa dura dhaabbachiisuu ti;

¹⁷ achiin duuba bisaan woyyicha meya faaraatitti woraabee, dunkaanii dhugaa bayaa keessaa bukuu fuudhee bisaan sanitti naquu ti.

¹⁸ Hayyichi mataa dubartitti'ii irraa hagoogguu buusee, kennansa midhaanii ka yakkaa qaabachiisu, ka marroo hinaaffa'aatiif dhikeeffamu, harkatti qabachiisee, fuula Mootii Waan Maraa dura dhaabbachiisuu ti. Harka ifiititti bisaan hadhowaa abaarsa fidu qabatuu ti.

¹⁹ Achiin duuba hayyichi, dubartittii san kakachiisiisaan: Ati heerumtee abbaa manaa qadduun, nami dhibiin yoo si waliin hin rafin yookiin ati yoo hin battowin, bisaan hadhowaan abaarsa fidu kun si hin miidhin.

²⁰ Ati ammoo abbaa manaa keeti jala jiraataa isaaf addatamuu dhabiiisaan, nama dhibii waliin rattee yoo ifi batteessitee jiraatte,

²¹ hayyichi, dubartittii san kakuu abaarsaa kakachisiisaan: Mootiin Waan Maraa gadhaa keeti iitessee, gudeeda keeti huqqisee, kolbaa teeti oddu'utti ta abaarante si godhuu ti;

²² bisaan abaarsa fidu kun nafa keeti keessa seenee gadhaa keeti iitessee, gudeeda keeti huqqisuu ti.

« «Dubartittiille: ameen, ameen jettuu ti.

²³ « «Hayyichi abaarsa kana kitaaba maramaa irratti barreessee, achiin duuba barreeffama san bisaan hadhowaa san keessatti dhiquu ti.

²⁴ Bisaan hadhowaa abaarsa fidu san obaasuu ti; bisaan abaarsa fidu kun isii keessa seenee dhibee hantuu itti hin fida.

²⁵ Achiin duuba hayyichi kennansa midhaanii ka marroo hinaaffa'aatiif dhikaatu san dubartittii san harkaa fuudhee, fuula ana Mootii Waan Maraa duratti tachoosee, gara addee ciinca'aatiitti dhikeessuu ti.

²⁶ Achiin duuba hayyichi kennansa midhaanii ka yaadanno'oo san harka tokko fuudhee, addee ciinca'aa irratti gubuu ti. Saniin duuba inni akka dubartittiin bisaan san untu godhuu ti.

²⁷ Isiin yoo ifi batteessitee abbaa manaa ifitiif addatamuu dhaddeertu teete, yennaa inni bisaan abaarsa fidu san isii obaasu, bisaan gadhaa isi'ii seenu sun dhibee hantuu isi'itti fidee, gadhaa isi'ii iitessee, gudeeda isi'ii huqqisee, isiin kolbaa ifii oddu'utti ta abaarante hin teeti.

²⁸ Dubartittiin ammoo yoo ifi hin batteessin teete, isiin hin miidhantu ijoolleelle deyyu hin dandeetti.

²⁹ « «Seerri marroo hinaaffa'aatiif kenname kana: Dubartittiin adoo abbaa manaa jala jirtuu seera irraa gortee, yoo ifi batteessite,

³⁰ yookiin yaadi hinaaffa'aa abbaa mana isi'iititti dhufee, inni yoo isii hinaafe, hayyichi dubartittii san ana Mootii Waan Maraa dura fiduu ti! Hayyichi akka seera kanaatitti isii irratti muummessuu ti!

³¹ Abbaan manaa yakkaa akka hin qanne akkasitti hin beekkama; dubartittiin ammoo akka yakkaa ifiititti hin dhaggatti jedhi!» jedhe.

6

Seera Naaziretichaa

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

² «Ati kolbaa Israa'eliitiin, «Nami tokko dhiirti yookiin dubartiin ana Mootii Waan Maraatiif ifi adda baasiisaan, naazireticha te'iisaaf, waadaa yoo gale,

³ daadhii woyni'ii irraa, untoo dhibii ta nama macheessitu irraa ifi eeggatuu ti; daadhii woyni'ii dhangaggootuu yookiin untoo dhibii nama macheessitu hin unin. Cunfaa midhaan woyni'ille hin unin yookiin midhaan woyni'ii shawwee yookiin gogaa hin nyaatin.

⁴ Inni bara ana Mootii Waan Maraatiif ifi adda baase mara waan midhaan woyni'ii irraa hujame mara yookiin qollofa woyni'iituu hin nyaatin.

⁵ « «Inni bara ana Mootii Waan Maraatiif ifi adda baasiisaaf waadaa gale mara rifeensa mataa ifii hin quxatin yookiin hin haadatin; haga barri inni ana Mootii Waan Maraatiif ifi adda baase muummowutti, inni woyyuu te'uu ti; rifeensa mataa ifii guddifatuu ti.

⁶ Inni bara ana Mootii Waan Maraatiif ifi adda baase mara reeffa namaatitti hin dhikaatin.

⁷ Beessisi ana Mootii Waan Maraatiif adda ifi baasiisaa rifeensi mataa isaa irra waan jiruuf, abbaan yookiin haati, obboleessi yookiin obboleettiin isaa yoo du'anelle reeffatti dhikaatiisaan ifi hin batteessin.

⁸ Bara ifi addaan baase mara inni ana Mootii Waan Maraatiif woyyoomera.

⁹ « «Nami tokko dedhuma isa biratti du'ee, rifeensa mataa isaa ka inni ittiin adda baye san yoo batteesse, guyyaa itti qulqulloomu, guyyaa torbeesso'oo rifeensa mataa ifii haadatuu ti.

¹⁰ Guyyaa saddeetesso'oo Dunkaanii Woldeenna'aa duratti ilmoolee saphaliisaa lama yookiin maddo'oo lama gara hayyichaa fiduu ti.

¹¹ Inni reeffatti dhikaatiisaan waan cubbameef, hayyichi saphaliisa tokkocha kennansa sababa cubbu'uutiif dhikaatuuf, saphaliisa tokkocha ammoo kennansa gubamuuf dhikeessuu ti. Inni gaafuma san rifeensa mataa ifii deebisee adda baasuu ti.

¹² Inni bara ifi adda baase san ana Mootii Waan Maraatiif ifi woyyoonsuu ti. Sababa yakka'aatiif korbeessa hoole'ee ka woggaa tokkoo fiduu ti. Inni waan battoweef, barri inni duri adda ifi baase ka garaa sun hin laakkowamu.

¹³ « «Seerri nama barri adda ifi baasiisi isaa dabaree ka asii gad jiru: Inni gara seensuma Dunkaanii Woldeenna'aa dura dhikeeffamuu ti.

¹⁴ Inni achitti kennansa ifii ana Mootii Waan Maraatiif: kennansa gubamuuf korbeessa hoole'ee buruusoo woggaa tokkoo ka fafa hin qanne tokkocha, kennansa araara cubbu'uutiif dhikaatu gorontii hoole'ee buruusoo ta woggaa tokkoo ta fafa hin qanne takkattii, kennansa tokkumma'aatiif korbeessa hoole'ee ka fafa hin qanne tokkocha,

¹⁵ kennansa midhaaniitii fi kennansa daadhii woyni'ii ka isaan woliin dhikaatanu woliin, akkasuma daabboo uukoo hin qanne kollonjoo tokko, xaltaa bullaa dansa'aa ka zayiti'in sukkuumamee fi bixee hephellittii uukoo hin qanne ta zayitiin irra dibante dhikeessuu ti.

¹⁶ « «Hayyichi waan kana maraa fuudhee, kennansa araara cubbu'uutiif dhikaatuu fi kennansa gubamu,

¹⁷ korbeessa hoole'ee ka kennansa tokkumma'aatiif dhikaate san daabboo uukoo hin qanne kollonjoo tokko kennansa ifi ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessuu ti.

¹⁸ Achiin duuba nami ana Mootii Waan Maraatiif adda baye sun rifeensa mataa ifii seensuma Dunkaanii Woldeenna'aa duratti haadatee, ibidda kennansi tokkumma'aa itti ciinceffamu keessa keyuu ti.

¹⁹ «Achiin duuba, foon harka korbeessaa yennaa iffeelame, hayyichi daabboo uukoo hin qanne tokkoo fi bixee hephellittii uukoo hin qanne takkattii kollonjoo keessaa fuudhee, harka isaa keessa keyuu ti.

²⁰ Achiin duuba hayyichi waan kana kennansa tachoofamu ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessuu ti. Kun martinuu cormi'ii fi luka korbeessaa ka kennansa addaa te'anetti dabalamanee qooda hayyichaa woyyicha te'an. Saniin duuba, nami adda baye sun daadhii woyni'ii unuu hin dande'a.

²¹ «Seerri nama ana Mootii Waan Maraatiif adda ifi baasiisaaf waadaa galee kana. Ammoo nami ana Mootii Waan Maraatiif adda baye sun waan kenniisaaf male caalaa kenniisaaf yoo waadaa gale, akkuma seera nama ana Mootii Waan Maraatiif adda bayeetitti, waadaa gale san muummessuu ti» jedhi» jedhe.

Eebba Hayyooti Eebbittu

²² Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

²³ «Ati Aaronii fi ilmaan isaatiin, «Dubbii asii gad jirtuun ilmaan Israa'elii eebbisa'a:

²⁴ «Mootiin Waan Maraa isin eebbisu, isin eegu!

²⁵ «Mootiin Waan Maraa fuula ifi isiniif issu, isin mararu!

²⁶ «Mootiin Waan Maraa fuula ifi gara keessan deebifatu, nageya isiniif kennu!» jedhiin.

²⁷ «Maarre isaan maqaa kiyya waamanee kolbaa Israa'elii hin eebbisan, anille isaan hin eebbisa» jedhe.

7

Kennansa Eebba Dunkaanii Dhugaa Bayaatiif Kenname

¹ Muuseen yennaa dunkaanii dhugaa bayaa dhaabee fixe, dunkaanii dhugaa bayaatii fi meya isi'ii mara, addee ciinca'aatii fi meya isi'ii mara zayitii ejersaa muudee woyyoonse.

² Achiin duuba sooressitooti Israa'elootaa ka worra laakkowameef itti gaafatantoota te'ane sooressitooti maatii maati'ii kennansa kennane.

³ Isaan garreettaa geejjibaa ka itti uffifame jaa fi korommii kudhanii lama, sooreyyiin tokko tokkooyyuu korommii tokko tokko, akkasuma lama lama te'ane, garreettaa geejjibaa tokko tokko kennane; isaan kennansa kana dunkaanii dhugaa bayaa duratti dhikeessane.

⁴ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

⁵ «Tajaajila Dunkaanii Woldeenna'aatiif kennansa kana sooreyyii irraa fuudhi; Lewwootaaf akkuma hujii isaaniititti isaaniif kenni» jedhe.

⁶ Maarre Muuseen garreettaa geejjibaatii fi korommii san Lewwootaaf kenne.

⁷ Inni garreettaa geejjibaa lamaa fi korommii afur akkuma hujii isaaniititti worra Gershooniitiif kenne.

⁸ Inni garreettaa geejjibaa afurii fi korommii saddeeti karaa ilma Aaronii hayyichaa Itaamaariitiin, akka tajaajila isaaniititti, worra Meraariitiif kenne.

⁹ Worri Qahaatotaa ammoo meya woyyicha gurmuu ifi irratti waan ba'atanuuf, Muuseen garreettaa geejjibaatii fi korommii isaaniif hin kennine.

¹⁰ Addeen ciinca'aa yennaa eebbifantu sooressitootille eebba isi'iitiif kennansa fidanee addee ciinca'aa duratti dhikeessane.

¹¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Sooressitoota keessaa eebba addee ciinca'aatiif, guyyuma guyya'atti nami tokko kennansa ifi akka dhikeessu isaanitti himi» jedhe.

¹² Guyyaa qaraa kennansa ifii ka dhikeesse gosa Yihuda'aa keessaa, ilma Aminaadaabii Nahasoon;

¹³ Kennansi inni dhikeesse gabataa meetii irraa hujame tokko akka sheeqelii addee woyyitti'iititti, ka sheeqelii dhibbaa fi soddoma* madaaluu fi qorii boollittii meetii irraa hujante takka, akka sheeqelii addee woyyitti'iititti ta sheeqelii torbaatama† madaaltu dhikeesse; isaan lamaanuu kennansa midhaanii bullaa dansaa zayitii ejersaatiin sukkuumanteen guutama-neeran.

¹⁴ Girgiraa worqii irraa hujamee hixaanaan guutame tokko ka sheeqelii kudhan‡ madaalu;

¹⁵ kennansa gubamuuf dardara tokko, korbeessa hoole'ee tokko, buruusoo korbeessa hoole'ee tokko ka woggaa tokkoo;

¹⁶ kennansa araara cubbu'uutiif dhikaatuuf korbeessa re'e'ee tokko;

¹⁷ kennansa tokkumma'aatiif korommii lama, korbeeyyii hoole'ee shan, korbeeyyii re'e'ee shanii fi buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokkoo shan. Kun kennansa ilmi Aminaadaabii Nahasoon dhikeesse.

¹⁸ Guyyaa lammeesso'oo sooressi gosa Yisaakorii ilmi Zuwaarii Nataani'el kennansa ifii dhikeesse;

¹⁹ Kennansi inni dhikeesse gabataa meetii irraa hujame tokko akka sheeqelii addee woyyitti'iititti, ka sheeqelii dhibbaa fi soddoma§ madaaluu fi qorii boollittii meetii irraa hujante takka, akka sheeqelii addee woyyitti'iititti ta sheeqelii torbaatama* madaaltu dhikeesse; isaan lamaanuu kennansa midhaanii bullaa dansaa zayitii ejersaatiin sukkuumanteen guutama-neeran.

²⁰ Girgiraa worqii irraa hujamee hixaanaan guutame tokko ka sheeqelii kudhan madaalu,

²¹ kennansa gubamuuf dardara tokko, korbeessa hoole'ee tokkoo fi buruusoo korbeessa hoole'ee tokko ka woggaa tokkoo;

²² kennansa araara cubbu'uutiif dhikaatuuf korbeessa re'e'ee tokko;

²³ kennansa tokkumma'aatiif korommii lama, korbeeyyii hoole'ee shan, korbeeyyii re'e'ee shanii fi buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokkoo shan. Kun kennansa ilmi Zuwaarii Nataani'el dhikeesse.

²⁴ Guyyaa sadeesso'oo sooressi gosa Zebuloonii ilmi Helonii Eliiyaab kennansa ifii dhikeesse;

²⁵ Kennansi inni dhikeesse gabataa meetii irraa hujame tokko akka sheeqelii addee woyyitti'iititti, ka sheeqelii dhibbaa fi soddoma madaaluu fi qorii boollittii meetii irraa hujante takka, akka sheeqelii addee woyyitti'iititti ta sheeqelii torbaatama madaaltu dhikeesse; isaan lamaanuu kennansa midhaanii bullaa dansaa zayitii ejersaatiin sukkuumanteen guutamaneeran.

²⁶ Girgiraa worqii irraa hujamee hixaanaan guutame tokko ka sheeqelii kudhan madaalu;

²⁷ kennansa gubamuuf dardara tokko, korbeessa hoole'ee tokko, buruusoo korbeessa hoole'ee tokko ka woggaa tokkoo;

²⁸ kennansa araara cubbu'uutiif dhikaatuuf korbeessa re'e'ee tokko;

²⁹ kennansa tokkumma'aatiif korommii lama, korbeeyyii hoole'ee shan, korbeeyyii re'e'ee shanii fi buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokkoo shan. Kun kennansa ilmi Helonii Eliiyaab dhikeesse.

³⁰ Guyyaa arfeesso'oo sooressi gosa Ruubenii ilmi Shiide'urii Eliizur kennansa ifii dhikeesse;

* **7:13** Sheeqeliin dhibbaa fi soddoma: Gara kiiloogiraama 1.5 te'a. † **7:13** Sheeqeliin torbaatama: Gara giraama 800 te'a. ‡ **7:14** Sheeqeliin kudhan: Gara giraama 110 te'a. § **7:19** Sheeqeliin dhibbi tokkoo fi soddoma: Gara kiiloogiraamii 1.5 te'a. * **7:19** Sheeqeliin torbaatama: Gara giraama 800 te'a.

³¹ Kennansi inni dhikeesse gabataa meetii irraa hujame tokko akka sheeqelii addee woyyitti'ititti, ka sheeqelii dhibbaa fi soddoma madaaluu fi qorii boollittii meetii irraa hujante takka, akka sheeqelii addee woyyitti'ititti ta sheeqelii torbaatama madaaltu dhikeesse; isaan lamaanuu kennansa midhaanii bullaa dansaa zayitii ejersaatiin sukkuumanteen guutamaneeran.

³² Girgiraa worqii irraa hujamee hixaanaan guutame tokko ka sheeqelii kudhan madaalu;

³³ kennansa gubamuuf dardara tokko, korbeessa hoole'ee tokko, buruusoo korbeessa hoole'ee tokko ka woggaa tokkoo;

³⁴ kennansa araara cubbu'uutiif dhikaatuuf korbeessa re'e'ee tokko;

³⁵ kennansa tokkumma'aatiif korommii lama, korbeeyyii hoole'ee shan, korbeeyyii re'e'ee shanii fi buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokkoo shan. Kun kennansa ilmi Shiide'urii Eliizur dhikeesse.

³⁶ Guyyaa shaneesso'oo sooressi gosa Shimi'oonii ilmi Zuriishadaayii Shiilumii'el kennansa ifii dhikeesse;

³⁷ Kennansi inni dhikeesse gabataa meetii irraa hujame tokko akka sheeqelii addee woyyitti'ititti, ka sheeqelii dhibbaa fi soddoma madaaluu fi qorii boollittii meetii irraa hujante takka, akka sheeqelii addee woyyitti'ititti ta sheeqelii torbaatama madaaltu dhikeesse; isaan lamaanuu kennansa midhaanii bullaa dansaa zayitii ejersaatiin sukkuumanteen guutamaneeran.

³⁸ Girgiraa worqii irraa hujamee hixaanaan guutame tokko ka sheeqelii kudhan madaalu;

³⁹ kennansa gubamuuf dardara tokko, korbeessa hoole'ee tokko, buruusoo korbeessa hoole'ee tokko ka woggaa tokkoo;

⁴⁰ kennansa araara cubbu'uutiif dhikaatuuf korbeessa re'e'ee tokko;

⁴¹ kennansa tokkumma'aatiif korommii lama, korbeeyyii hoole'ee shan, korbeeyyii re'e'ee shanii fi buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokkoo shan. Kun kennansa ilmi Zuriishadaayii Shiilumii'el dhikeesse.

⁴² Guyyaa jayeesso'oo sooressi gosa Gaadii ilmi Dewu'elii Elii'aasaaf kennansa ifii dhikeesse;

⁴³ Kennansi inni dhikeesse gabataa meetii irraa hujame tokko akka sheeqelii addee woyyitti'ititti, ka sheeqelii dhibbaa fi soddoma madaaluu fi qorii boollittii meetii irraa hujante takka, akka sheeqelii addee woyyitti'ititti ta sheeqelii torbaatama madaaltu dhikeesse; isaan lamaanuu kennansa midhaanii bullaa dansaa zayitii ejersaatiin sukkuumanteen guutamaneeran.

⁴⁴ Girgiraa worqii irraa hujamee hixaanaan guutame tokko ka sheeqelii kudhan madaalu;

⁴⁵ kennansa gubamuuf dardara tokko, korbeessa hoole'ee tokko, buruusoo korbeessa hoole'ee tokko ka woggaa tokkoo;

⁴⁶ kennansa araara cubbu'uutiif dhikaatuuf korbeessa re'e'ee tokko;

⁴⁷ kennansa tokkumma'aatiif korommii lama, korbeeyyii hoole'ee shan, korbeeyyii re'e'ee shanii fi buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokkoo shan. Kun kennansa ilmi Dewu'elii Elii'aasaaf dhikeesse.

⁴⁸ Guyyaa torbeesso'oo sooressi gosa Efreemii ilmi Amiihudii Eliishaama kennansa ifii dhikeesse.

⁴⁹ Kennansi inni dhikeesse gabataa meetii irraa hujame tokko akka sheeqelii addee woyyitti'ititti, ka sheeqelii dhibbaa fi soddoma madaaluu fi qorii boollittii meetii irraa hujante takka, akka sheeqelii addee woyyitti'ititti ta sheeqelii torbaatama madaaltu dhikeesse; isaan lamaanuu kennansa midhaanii bullaa dansaa zayitii ejersaatiin sukkuumanteen guutamaneeran.

⁵⁰ Girgiraa worqii irraa hujamee hixaanaan guutame tokko ka sheeqelii kudhan madaalu;

⁵¹ kennansa gubamuuf dardara tokko, korbeessa hoole'ee tokko, buruusoo korbeessa hoole'ee tokko ka woggaa tokkoo;

⁵² kennansa araara cubbu'uutiif dhikaatuuf korbeessa re'e'ee tokko;

⁵³ kennansa tokkumma'aatiif korommii lama, korbeeyyii hoole'ee shan, korbeeyyii re'e'ee shanii fi buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokkoo shan. Kun kennansa ilmi Amiihudii Eliishaama dhikeesse.

⁵⁴ Guyyaa saddeetesso'oo sooressi gosa Minaase'ee ilmi Phedaazurii Gamaali'el kennansa ifii dhikeesse;

⁵⁵ Kennansi inni dhikeesse gabataa meetii irraa hujame tokko akka sheeqelii addee woyyitti'ititti, ka sheeqelii dhibbaa fi soddoma madaaluu fi qorii boollittii meetii irraa hujante takka, akka sheeqelii addee woyyitti'ititti ta sheeqelii torbaatama madaaltu dhikeesse; isaan lamaanuu kennansa midhaanii bullaa dansaa zayitii ejersaatiin sukkuumanteen guutamaneeran.

⁵⁶ Girgiraa worqii irraa hujamee hixaanaan guutame tokko ka sheeqelii kudhan madaalu;

⁵⁷ kennansa gubamuuf dardara tokko, korbeessa hoole'ee tokko, buruusoo korbeessa hoole'ee tokko ka woggaa tokkoo;

⁵⁸ kennansa araara cubbu'uutiif dhikaatuuf korbeessa re'e'ee tokko;

⁵⁹ kennansa tokkumma'aatiif korommii lama, korbeeyyii hoole'ee shan, korbeeyyii re'e'ee shanii fi buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokkoo shan. Kun kennansa ilmi Phedaazurii Gamaali'el dhikeesse.

⁶⁰ Guyyaa sagaleesso'oo sooressi gosa Beniyaaminii ilmi Gedewoonii Abidaa kennansa ifii dhikeesse.

⁶¹ Kennansi inni dhikeesse gabataa meetii irraa hujame tokko akka sheeqelii addee woyyitti'ititti, ka sheeqelii dhibbaa fi soddoma madaaluu fi qorii boollittii meetii irraa hujante takka, akka sheeqelii addee woyyitti'ititti ta sheeqelii torbaatama madaaltu dhikeesse; isaan lamaanuu kennansa midhaanii bullaa dansaa zayitii ejersaatiin sukkuumanteen guutamaneeran.

⁶² Girgiraa worqii irraa hujamee hixaanaan guutame tokko ka sheeqelii kudhan madaalu;

⁶³ kennansa gubamuuf dardara tokko, korbeessa hoole'ee tokko, buruusoo korbeessa hoole'ee tokko ka woggaa tokkoo;

⁶⁴ kennansa araara cubbu'uutiif dhikaatuuf korbeessa re'e'ee tokko;

⁶⁵ kennansa tokkumma'aatiif korommii lama, korbeeyyii hoole'ee shan, korbeeyyii re'e'ee shanii fi buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokkoo shan. Kun kennansa ilmi Gedewoonii Abidaa dhikeesse.

⁶⁶ Guyyaa kudhaneesso'oo sooressi gosa Daanii ilmi Amiishadaayii Ahii'ezer kennansa ifii dhikeesse.

⁶⁷ Kennansi inni dhikeesse gabataa meetii irraa hujame tokko akka sheeqelii addee woyyitti'ititti, ka sheeqelii dhibbaa fi soddoma madaaluu fi qorii boollittii meetii irraa hujante takka, akka sheeqelii addee woyyitti'ititti ta sheeqelii torbaatama madaaltu dhikeesse; isaan lamaanuu kennansa midhaanii bullaa dansaa zayitii ejersaatiin sukkuumanteen guutamaneeran.

⁶⁸ Girgiraa worqii irraa hujamee hixaanaan guutame tokko ka sheeqelii kudhan madaalu;

⁶⁹ kennansa gubamuuf dardara tokko, korbeessa hoole'ee tokko, buruusoo korbeessa hoole'ee tokko ka woggaa tokkoo;

⁷⁰ kennansa araara cubbu'uutiif dhikaatuuf korbeessa re'e'ee tokko;

⁷¹ kennansa tokkumma'aatiif korommii lama, korbeeyyii hoole'ee shan, korbeeyyii re'e'ee shanii fi buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokkoo shan. Kun kennansa ilmi Amiishadaayii Ahii'ezer dhikeesse.

⁷² Guyyaa kudhanii tokkeesso'oo sooressi gosa Asheerii ilmi Okraanii Fagi'el kennansa ifii dhikeesse.

⁷³ Kennansi inni dhikeesse gabataa meetii irraa hujame tokko akka sheeqelii addee woyyitti'ititti, ka sheeqelii dhibbaa fi soddoma madaaluu fi qorii boollittii meetii irraa hujante takka, akka sheeqelii addee woyyitti'ititti ta sheeqelii torbaatama madaaltu dhikeesse; isaan lamaanuu kennansa midhaanii bullaa dansaa zayitii ejersaatiin sukkuumanteen guutamaneeran.

⁷⁴ Girgiraa worqii irraa hujamee hixaanaan guutame tokko ka sheeqelii kudhan madaalu;

⁷⁵ kennansa gubamuuf dardara tokko, korbeessa hoole'ee tokko, buruusoo korbeessa hoole'ee tokko ka woggaa tokkoo;

⁷⁶ kennansa araara cubbu'uutiif dhikaatuuf korbeessa re'e'ee tokko;

⁷⁷ kennansa tokkumma'aatiif korommii lama, korbeeyyii hoole'ee shan, korbeeyyii re'e'ee shanii fi buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokkoo shan. Kun kennansa ilmi Okraanii Fagi'el dhikeesse.

⁷⁸ Guyyaa kudhanii lammeesso'oo sooressi gosa Naftaalemii ilmi Enaanii Ahiira kennansa ifi dhikeesse.

⁷⁹ Kennansi inni dhikeesse gabataa meetii irraa hujame tokko akka sheeqelii addee woyyitti'ititti, ka sheeqelii dhibbaa fi soddoma madaaluu fi qorii boollittii meetii irraa hujante takka, akka sheeqelii addee woyyitti'ititti ta sheeqelii torbaatama madaaltu dhikeesse; isaan lamaanuu kennansa midhaanii bullaa dansaa zayitii ejersaatiin sukkuumanteen guutamaneeran.

⁸⁰ Girgiraa worqii irraa hujamee hixaanaan guutame tokko ka sheeqelii kudhan madaalu;

⁸¹ kennansa gubamuuf dardara tokko, korbeessa hoole'ee tokko, buruusoo korbeessa hoole'ee tokko ka woggaa tokkoo;

⁸² kennansa araara cubbu'uutiif dhikaatuuf korbeessa re'e'ee tokko;

⁸³ kennansa tokkumma'aatiif korommii lama, korbeeyyii hoole'ee shan, korbeeyyii re'e'ee shanii fi buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokkoo shan. Kun kennansa ilmi Enaanii Ahiira dhikeesse.

⁸⁴ Gaafa addeen ciinca'aa muudante kennansi sooreyyiin Israa'elootaa, eebba isi'iitiif dhikeessane isaan kana: gabataa meetii irraa hujame kudhanii lama, qorii boollittii meetii irraa hujante kudhanii lama, girgiraa worqii hujame kudhanii lama;

⁸⁵ gabataan meetii irraa hujame sun tokko tokkoon isaatuu sheeqelii dhibbaa fi soddoma, qoriin meetii irraa hujante tokko tokkoon isi'iituu sheeqelii torbaatama madaalan; wolumatti meetiin meya kanaa akka sheeqelii addee woyyitti'ititti sheeqelii kuma lamaa fi dhibba afur[†] madaalti.

⁸⁶ Girgiraa worqii irraa hujame kudhanii lama ka hixaanaan guutame, akka sheeqelii addee woyyitti'ititti tokko tokkoon isaaniituu sheeqelii kudhan madaalan; wolumatti worqiin girgiroota kanaa sheeqelii dhibbaa fi diddama[‡] madaalti.

⁸⁷ Kennansa midhaanii ka isaanii waliin wolumatti horiin ciinca'aaf dhikaate dardaroota kudhanii lama, korbeeyyii hoole'ee kudhanii lama, buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokko tokkoo kudhanii lama; kennansa araara cubbu'uutiifille korbeeyyii re'e'ee kudhanii lama.

⁸⁸ Horiin ciincaa kennansa tokkumma'aatiif dhikaate wolumatti korommii diddamii afur, korbeeyyii hoole'ee jaatama, korbeeyyii re'e'ee jaatama, buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokko tokkoo jaatama. Kennansi gaafa addeen ciinca'aa muudante, eebba isi'iitiif dhikeessane isaan kana.

⁸⁹ Muuseen Mootii Waan Maraa waliin dubbatiisaaf Dunkaanii Wold-eenna'aa yennaa seene, qadaaddaa Saanduqa addee gumaan araara

[†] **7:85** *Sheeqeliin kuma lamaa fi dhibbi afur*: Gara kiiloogiraama 28 te'a. [‡] **7:86** *Sheeqeliin dhibbaa fi diddama*: Gara kiiloogiraama 1.4 te'a.

cubbu'uu irra keyamu ka dada ol-gubba'aa ta koola qaddu lamaan wod-hakkaa jiru gubba'aa qoonqoo isatti dubbattu dhage'e. Mootiin Waan Maraa isatti dubbate.

8

Ifa Torba

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

² «Ati Aaroniin «Issaa torba waan issaa irra keyanu irra yennaa keettu, akka adaala waan issaa irra keyanu duratti ifanu keyi» jedhiin» jedhe.

³ Aaronille akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajajetti, issaa san waan issaa irra keyanu fuula duratti akka ifanu keye.

⁴ Wonni issaa irra keyanu akka fakkeenaa Mootiin Waan Maraa Muuse'etti mudhisetti jalaa ka'ee haga qaccee isi'ii ta akka daraara'aatitti worqii tumante irraa hujameera.

Lewwooti Waaqaaf Kennamane

⁵ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

⁶ «Lewwoota odduu Israa'elootaati fuudhiitii akka aadaa dhugeeffanna'aatitti isaan qulqulleessi.

⁷ Isaan qulqulleessiisaaf, waan asii gad jiru kana godhi: bisaan ittiin qulqulloomanu itti fiffixi; achiin duuba akka isaan rifeensa nafa ifii duudii haadatane woyaa ifiille dhiqatanee ifi qulqulleeffatanu isaanitti himi.

⁸ Isaan dardara tokkoo fi kennansa midhaanii bullaa dansaa ta zay-itiin sukkuumante ka isaan woliin dhikaatanu fidanuu ti; atille araara cubbu'uutiif dardara dhibii tokko fidi.

⁹ Kolbaa Israa'elii duudii wolitti qabiitii, Dunkaanii Woldeenna'aa duratti Lewwoota dhikeessi!

¹⁰ Yennaa ati Lewwoota fuula kiyya duratti dhikeessitu, Israa'elooti harka ifii mataa isaanii irra keyanuu ti!

¹¹ Lewwooti akka hujii tiyya hujanu Aaron Israa'eloota oddu'uu akka kennansa tachoofamuu fuula kiyya duratti isaan dhikeessuu ti.

¹² Lewwooti harka ifii mataa dardara lamaanii san irra keyanuu ti; Aaron dardara tokko kennansa araara cubbu'uutiif dhikeessee, dardara kaanille Lewwootaaf gumaa cubbu'uu godhiisaaf kennansa gubamu ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessuu ti.

¹³ «Worra Lewwootaa Aaronii fi ilmaan isaa dura dhaabbachiisiitii akka kennansa tachoofamuu fuula kiyya duratti dhikeessi.

¹⁴ Karaa kanaan Lewwooti Israa'eloota kaan oddu'uu adda baasi; isaanille kiyya hin te'an.

¹⁵ Ati isaan qulqulleessitee akka kennansa tachoofamuu dhikeessiteen duuba, isaan Dunkaanii Woldeenna'aa keessa tajaajiliisaaf ol seenanuu ti.

¹⁶ Israa'eloota keessaa isaan guutumatti naaf kennamaneeran; Israa'eloota mara keessaa angafa addee fudhadhu, Lewwoota fudhadheera.

¹⁷ Ani yennaa angafa biyya Gibxi'ii keessaa mara ijjeese, ka worra Israa'elii adda baafadhe; tanaaf, Israa'eloota keessaa dhiira te'ee ka dhalate, angafi namaatii fi hori'iille kiyya.

¹⁸ Ani addee ilmaan angafa Israa'elootaa mara fudhadhu, Lewwoota fudhadheera.

¹⁹ Isaan Dunkaanii Woldeenna'aa keessa addee Israa'elootaa bu'ane akka tajaajilanuuf, Israa'elooti addee woyyitti'itti dhikaatanee balaan akka itti hin buune akka isaaniif araarsanuuf, ani Israa'eloota mara keessaa Lewwoota Aaronii fi ilmaan isaatiif kennansa godhee kenneera» jedhe.

²⁰ Maarre Muuseen, Aaronii fi kolbaan Israa'elii duudiin akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajajetti Lewwoota adda baasane.

²¹ Lewwooti ifi qulqulloonsanee woyaa ifiille dhiqatane; achiin duuba Aaron akka kennansa tachoofamuu Mootii Waan Maraa duratti isaan dhi-keessee, isaan qulqulleessiisaaf gumaa cubbu'uu isaaniif tolche.

²² Saniin duuba Lewwooti sooressummaa Aaronii fi ilmaan isaatiin Dunkaanii Woldeenna'aa keessa tajaajila ifi tajaajiliisaaf ol seenane; kolbaan akkuma Mootiin Waan Maraa marroo Lewwootaa Muusee ajajetti waan mara isaaniif goote.

²³ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

²⁴ «Wonni Lewwoota ilaalu asii gad jira; Dhiirti Lewwootaa ta woggaan isaanii diddamii shaniitii fi achii olii Dunkaanii Woldeenna'aa keessa tajaajiliisaaf dhufanuu ti;

²⁵ woggaan isaanii shantama yennaa guutte ammoo tajaajila ifi irraa hin foorfatan; achiin duuba hin tajaajilanu.

²⁶ Isaan tajaajila obboleeyyan isaanii Dunkaanii Woldeenna'aa keessa tajaajilanu obboleeyyan ifi qarqaaran malee, ifiif hujii hin hujanu. Akka kanatti itti gaafatamummaa worra Lewwootaa tarree galchita» jedhe.

9

Jila Irra Dabaramaa Ta Lammeesso'oo

¹ Israa'elooti biyya Gibxi'iitii bayaneen duuba woggaa lammeesso'oo, ji'a tokkeesso'oo keessa, Mootiin Waan Maraa goomolee Siina'aa keessatti Muuse'etti dubbatee,

² «Israa'elooti Jila Irra Dabaramaa yennaa isi'ii eeganee jilifatanuu ti.

³ Ji'uma kana guyyaa kudhanii arfeesso'ootitti, dimimmisa galgala yennaa isi'ii eegadha'aatii, akkuma seerataa fi sirna isi'iititti jilifadha'a» jedhe.

⁴ Maarre Muuseen akka isaan Jila Irra Dabaramaa jilifatanuuf Israa'elootatti hime.

⁵ Israa'elootille akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajajetti ji'a tokkeesso'oo keessa, guyyaa kudhanii arfeesso'oo dimimmisa galgala goomolee Siina'aa keessatti Jila Irra Dabaramaa jilifatane.

⁶ Isaan keessaa namooti akka aadaa dhugeeffanna'aatitti reeffa namaa tuqiisaan battowane, gaafas worra kaan woliin Jila Irra Dabaramaa jilifatiisa hin dandeenne; isaan gaafasuma gara Muuse'eetii fi Aaronii dhufanee,

⁷ «Nuuti reeffa namaa tuqiisaan battoonneerra; garuu Israa'eloota kaan woliin yennaa kennansi kennamu nuuti Mootii Waan Maraatiif kennansa akka hin dhikeessine maaf dhoogganna?» jedhane.

⁸ Muuseen deebisee, «Mootiin Waan Maraa marroo teessaniif waan jedhu haga dhage'utti, eegadha'a» isaaniin jedhe.

⁹ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

¹⁰ «Ati Israa'elootaan, «Isin keessaa yookiin sanyii teessan keessaa worri reeffa namaa tuqiisaan battowe yoo jiraate yookiin yennaa Jila Irra Dabaramaa karaa fagoo deemiisatti jiru yoo jiraate, Jila Irra Dabaramaa jilifatiisa hin dande'an.

¹¹ Garuu ji'a lammeesso'oo, guyyaa kudhanii arfeesso'ootitti galgala dimimmisa jilifatanuu ti. Buruusoo korbeessa hoole'ee ka Jila Irra Dabaramaatiif qalame san daabboo uukoo hin qannee fi baala hadhowu woliin nyaatanuu ti.

¹² Isaan foon buruusoo korbeessa hoole'ee san haga boruyyaatitti hin hamburatin yookiin lafee isaalle hin cassin. Isaan yennaa Jila Irra Dabaramaa jilifatanu akka sirna Jila Irra Dabaramaatitti jilifatanuu ti.

¹³ Ammoo nami akka aadaa dhugeeffanna'aatitti qulqulluu te'ee, karaa adoo hin ideemin Jila Irra Dabaramaa hin jilifatin hafe, kennansa Mootii Waan Maraatiif dhikeessu yennaa isaatitti waan hin dhikeessiniif, inni kolbaa ifii keessaa bawuu ti. Inni akka cubbuu ifiititti itti hin gaafatama.

¹⁴ «Alagaan odduu teessan le'u Jila Irra Dabaramaa yoo jilifatu barbaade, akka seerataa fi sirna Jila Irra Dabaramaatitti jilifatu ti. Isin worra alaga'atii fi worra dhalataa biyyaatiif seeraa fi sirna tokkochuma qabaadha'a» jedhi» jedhe.

Duumensa Dunkaanii Dhugaa Bayaatiin Gubba'aa

¹⁵ Gaafa dunkaaniin dhugaa bayaa dhaabbatte, duumensi dhufee isii golle. Duumensi sun galgalaa haga ganamaatitti ibidda fakkaataayyu.

¹⁶ Gaafa mara akkasuma te'aa ture; duumensi sun dunkaaniin dhugaa bayaa golle; inni halkan ibidda fakkaataayyu.

¹⁷ Yennaa duumensi dunkaaniin irraa ka'u mara Israa'elootille ka'anee deeman; addee duumensi bu'etti isaanille hin qubataniiyyu.

¹⁸ Israa'elooti ajaja Mootii Waan Maraatiin ka'anee deemanee, ajaja Mootii Waan Maraatiin qubatan. Haga duumensi dunkaaniin dhugaa bayaa gubbaa jiru, isaan quttumuma san keessa turan.

¹⁹ Duumensi dunkaaniin dhugaa bayaa irraa adoo hin ka'in guyyaa hedduu yennaa ture, Israa'elooti ajaja Mootii Waan Maraa eegatan malee, ka'anee hin deemanu.

²⁰ Yennaa tokko tokko duumensi guyyaa diqqaa qofa dunkaaniin dhugaa bayaa irra tura; isaanille ajaja Mootii Waan Maraatiin addee quttuma ifii turan yookiin ajaja Mootii Waan Maraatiin ka'anee deeman.

²¹ Yennaa tokko tokko duumensi sun galgalaa haga ganamaa qofa dunkaaniin dhugaa bayaa irra tura; ganama yennaa duumensi sun dunkaaniin dhugaa bayaa irraa ka'e, isaanille ka'anee deeman. Galgalalle te'u gamanalle duumensi dunkaaniin dhugaa bayaa irraa yennaa ka'e mara isaanille ka'anee deeman.

²² Duumensi sun dunkaaniin dhugaa bayaa irra guyyaa lama yookiin ji'a tokko yookiin yennaa hedduu turulle, Israa'elooti adduma quttumaa turan malee, ka'anee hin deemanu; yennaa duumensi sun dunkaaniin dhugaa bayaa irraa ka'e ammoo, isaanille ka'anee deeman.

²³ Isaan ajaja Mootii Waan Maraatiin qubatan; ajaja Mootii Waan Maraatiin ka'aneelle deeman; isaan ajaja Mootii Waan Maraa ka karaa Muuse'eetiin kenname hin eegataniiyyu.

10

Tultullaa Meetii Irraa Hujaa

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

² «Kolbaa wolitti waamiisaa fi addee quttumaatii ka'anee akka deemanu godhiisaaf meetii tumante irraa tultullaa lama huji.

³ Yennaa tultullaan lamaanuu afuufamanu, kolbaan duudiin seensuma Dunkaaniin Woldeenna'aatitti, si duratti wolitti qabamanuu ti.

⁴ Yennaa tultullaan tokkochi callaan afuufamu, sooreyyiin fira kolbaa Israa'elii callaan si duratti wolitti qabamanuu ti.

⁵ Yennaa tultullaan tokko qoonqoo guddoon afuufamu, gosi karaa aduun baatu qabatteertu kaatee ideentuu ti.

⁶ Yennaa lammeesso'oo, tultullaan yennaa afuufamu, gosi gara kibbaa qabatteertu kaatee ideentuu ti. Guddittee afuufiisi, beessisa ka'anee deemiisaa ti.

⁷ Kolbaa wolitti qabiisaaf, tultullaa afuufi; ammoo guddittee hin afuufin.

⁸ «Ilmaan Aaronii hayyooti, tultullaa afuufanuu ti! Kun isiniif, dhaloota dhufuufille seerata bara baraa te'uu ti.

⁹ Biyya teessan keessatti diinota isin cunqursanu loliisaaf yennaa duultanu, tultullaa guddisa'aatii afuufa'a; achiin duuba ana Mootii Waan Maraa Waaqa keessan biratti hin qaabatantan; diinota keessan jalalle'ee hin baatan.

¹⁰ Akkasuma guyyaa gammadaa, yennaa jila beekkantee, yennaa baatii ji'aatitti, tultullaa kana kennansa gubamuu fi kennansa tokkumma'aa irratti afuufa'a; kun ana Waaqa keessan duratti yaadannoo isiniif hin te'a. Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan» jedhe.

Israa'elooti Goomolee Siina'aa Lakkisane Deemane

¹¹ Kolbaan Israa'elii biyya Gibxi'iitii baateen duuba, woggaa lammeesso'oo, ji'a lammeesso'ootitti, guyyaa diddameesso'oo, duumensi dunkaanii dhugaa bayaa san irraa ka'e.

¹² Achiin duuba Israa'elooti goomolee Siina'aatii bayane, haga duumensi goomolee Phaaraanii keessatti dhaabbatutti ka'ane deemane.

¹³ Akkuma Mootiin Waan Maraa karaa Muuse'eetiin ajajetti, yennaa jalqabaatiif ka'ane deemane.

¹⁴ Goliin quttuma Yihuda'aa loltoota ifii woliin baandiraa ifii qabatanee dursanee deemane. Ajajaan isaanii ilma Aminaadaabii Nahasoon.

¹⁵ Ajajaan loltoota gosa Yisaakorii, ilma Zuwaarii Nataani'el;

¹⁶ ajajaan loltoota gosa Zebulonii, ilma Helonii Eliiyaab.

¹⁷ Achiin duuba dunkaaniin dhugaa bayaa buqqaatee, ilmaan Ger-shootaatii fi Meraarotaa worri dunkaanii dhugaa bayaa ba'ateerulle ka'ane deemane.

¹⁸ Itti aananee, goliin quttuma gosa Ruubenii loltoota ifii woliin baandiraa ifii qabatanee bayane; ajajaan isaanii, ilma Shiide'urii Eliizur.

¹⁹ Ajajaan gosa Shimi'oonii, ilma Zuriishadaayii Shiilumii'el.

²⁰ Ajajaan gosa Gaadii ilma Dewu'elii Elii'aasaaf.

²¹ Achiin duuba Lewwooti fira Qehaatotaa meya woyyicha ba'atanee bayane; adoo isaan quttuma itti aanu hin geyin, dunkaaniin dhugaa bayaa dhaabante.

²² Itti aananee, goliin quttuma gosa Efreemii loltoota ifii woliin baandiraa ifii qabatane bayane; ajajaan isaanii ilma Amiihudii Eliishaama'a.

²³ Ajajaan gosa Minaase'ee ilma Phedaazurii Gamaali'el;

²⁴ ajajaan gosa Beniyaamiille ilma Gedewoonii Abiidaan.

²⁵ Dhuma irratti goliin quttuma gosa Daanii ka karaa duubaatiin quttuma maraafuu eedduu te'ane, loltoota ifii woliin baandiraa ifii qabatanee bayane; ajajaan isaanii ilma Amiihadaayii Ahii'ezer.

²⁶ Ajajaan golii gosa Asheerii ilma Okraanii Fagi'el;

²⁷ ajajaan golii gosa Naftaalemiille ilma Enaanii Ahiira'a.

²⁸ Tarreen duulaa ta Israa'elooti golii goli'in addee quttumaatii ka'ane ittiin deemane akka kana.

²⁹ Muuseen abbaa soddaa ifii ilma Ruubenii Miidiyaantichaa Habaabiin, «Nuuti addee Mootiin Waan Maraa, «Ani isiniif hin kenna» jedhe sanitti galiisaaf kaaneerra; atille nu woliin koy; Mootiin Waan Maraa waan dansaa Israa'eliif waadaa waan galeef, nuutille waan dansaa si'iif hin goona» jedhe.

³⁰ Habaab deebisee, «Lakkii, ani hin deemu; ani gara biyya tiyyaatii fi kolbaa tiyyaa deebi'ee deemaara» jedhe.

³¹ Muuseen ammoo, «Magganne'ee nu biraa hin deebi'in! Goomolee keessa addee nuuti qubatuu dandeennu hin beetta; soossa kara'aa nu'uuf teeta.

³² Ati yoo nu woliin deente, nuuti waan dansaa Mootiin Waan Maraa nuu kennu san mara si woliin hin qoodanna» jedhe.

Kolbaan Kaatee Deente

³³ Maarre kolbaan gaara Mootii Waan Maraa gaara Siina'aatii kaatee guyyaa sad ideente. Saanduqi Gondooroo Mootii Waan Maraa addee isaan itti qubatanu isaaniif barbaadiisaaf guyyaa sadiin san isaaniin dura deeme.

³⁴ Yennaa isaan addee quttumaatii ka'anuu, duumensi Mootii Waan Maraa guyyaa isaaniin gubbaarra deeme.

³⁵ Yennaa Saanduqi Gondooroo'oo ka'ee deemu mara Muuseen, «Ee Mootii Waan Maraa, ka'i! Diinoti keeti bittinnowanuu ti; nyaaphoti keeti si duraa baqatanuu ti» jedhaayyu.

³⁶ Yennaa Saanduqi Gondooroo'oo dhaabbatu mara Muuseen, «Ee Mootii Waan Maraa! Gara Israa'eloota kuma heddu'uu deebi'i» jedhaayyu.

11

Gungumiisa Kolba'aa

¹ Kolbaan marroo rakkoo ifitiif Mootii Waan Maraa irratti gungumiisa jalqadde. Mootiin Waan Maraa yennaa gungunsuu isaanii dhage'e, guddoo aare. Achiin duuba ibiddi Mootii Waan Maraa biraa odduu isaaniititti bobee'ee, quttuma isaanii mogguu takkaa gubee muxuqi godhe.

² Yennaa kolbaan gara Muuse'ee iyyite, inni gara Mootii Waan Maraa daadimatee, ibiddille dhaame.

³ Ibiddi Mootii Waan Maraa odduu isaaniititti waan bobee'eef, maqaan addee sanii «Tabeeraa*» jedhamee moggaafame.

Muuseen Sooreyyii Torbaatama File

⁴ Worri biyya ormaa gariin ka Israa'eloota woliin jiranu, sagalee dhibii guddoo dharra'ane; Israa'elootille gungumanee, «Foon nyaannu adoo dhag-gannee!

⁵ Nuuti biyya Gibxi'ii keessatti gatii malee, qurxummii nyaannu, baaqulaa, waan baaqulaa fakkaatu ka dheedhii nyaatanu, waan goodarree fakkaatu, shunkurti'ii fi qullubbii qaabanne;

⁶ amma ammoo halchaan nyaataa nurraa baddeerti; mannaa tana malee, waan tokkolle hin dhagginu» jedhane.

⁷ Mannaan waan midhaan dinbilaalaa fakkaatee, akka ceem'aa jiru.

⁸ Kolbaan asii fi achi deentee qoccee, daaku'utti daatti yookiin mooyye'etti tunti. Achiin duuba isaan okkote'etti iffeelan yookiin bixee hephellittii bixisan. Mi'aan isi'iille akka bixee zayitii ejersaatiin bixifantee ti.

⁹ Halkan fixeensi addee quttumaatitti yennaa bu'u, mannaan sun fixeensa woliin bu'a.

¹⁰ Kolbaan akka maatii maatii ifiititti, seensuma dunkaanii ifii duratti gungumanuun Muuseen dhage'e. Achiin duuba Mootiin Waan Maraa guddoo aare; Muuseelle akka malee gaddee,

¹¹ Mootii Waan Maraatiin, «Maaniif rakkinna kana ana tajaajilaa keeti irratti fidde? Ani dokonkora maan hujee, ati ba'aa kolbaa tana maraa natti feete?

¹² Natti kolbaa tana mara ulfoyye deye moo? Ati maaniif, «Akka gud-difattuu annuu habbaarattuu, isaan habbaaradhuutii biyya ani abbootii isaaniitiif kaku'uun waadaa galetti isaan galchi» naan jette?

¹³ Isaan, «Foon nyaannu nuu kenni» jedhaa gara kiyya dhufanee natti bowan; isaan kana maraaf ani foon eessaa fuudha ree?

* 11:3 *Tabeeraa*: Afaan Ibrootaatiin *gubachuu* jechu'u.

¹⁴ Kolbaan tun akka ba'aa guddo'oo waan natti ulfaattuuf, ani qofii tiyya kolbaa tana mara ba'atiisa hin dande'u.

¹⁵ Ati akkana yoo na gootu teete, ammuma ana ijjeesi! Ani si duratti fudhatama dhaggadhee yoo jiraadhe, farra na hin dhaggisiisin» jedhe.

¹⁶ Mootiin Waan Maraa Muuse'een «Maanguddoo Israa'elii keessaa worra sooreyyi'ii fi qondaaltota kolba'aa te'uu isaanii beettu, nama torbaatama wolitti naa qabi. Akka isaan achi si bira dhaabbatanu gara Dunkaanii Woldeenna'aa fidi.

¹⁷ Ani dhufee achitti si woliin hin dubbadha; Ayyaana si irra jiru irraa qoodee isaan irra hin keya; ati qofii teeti akka hin ba'anne isaanille ba'aa kolba'aa si hin qarqaaran» jedhe.

¹⁸ Ati ammalle kolba'aan, «Ka isin, «Biyya Gibxi'ii keessatti nutti toleeraayyu! Foon nyaannu adoo dhaggannee!» jettanee boottane Mootiin Waan Maraa dhage'eera; amma foon hin nyaataniitii, boruuf ifi wooyyoonsa'a! Inni foon isiniif hin kenna; isinille foon hin nyaatan.

¹⁹ Isin guyyaa tokko yookiin guyyaa lama yookiin guyyaa shan, guyyaa kudhan yookiin guyyaa diddama qofa hin nyaattan;

²⁰ Ammoo isin Mootii Waan Maraa ka odduu teessan jiru jibbitanee, «Maaf biyya Gibxi'iitii baane?» jettanee waan isatti gunguntaneef, ji'a tokko guutuu, haga funnaaniin isin dhufutti, haga diqattanutti hin nyaattan» jedhi.

²¹ Muuseen ammoo Mootii Waan Maraatiin, «Kunoo kolbaan na woliin jirtu, ta ati, «Ji'a guutuu foon isaaniif hin kenna» jettu, laakkossi loltoota miilaa 600,000.

²² Adoo hoole'ee fi re'een, loonille karri duudiin isaaniif qalamanelle'ee isaan hin geyaa? Qurxummiin abbaayaa keessaa duudiin isaaniif yoo wolitti qabanelle isaan hin geettii?» jedhe.

²³ Mootiin Waan Maraa deebisee, «Harki kiyya gabaaba'aa ree? Jechi kiyya akka te'uu fi hin teene ammuma hin dhaggita» jedhe.

²⁴ Maarre Muuseen gad bayee waan Mootiin Waan Maraa jedhe kolba'atti hime. Inni maanguddoota torbaatama adaala dunkaani'iititti wolitti qabee dhaabbachiise.

²⁵ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa duumensa keessa gad dhufee Muuse'etti dubbate. Inni Ayyaana Muuseen qabu irraa qoodee maanguddoota torbaatamaaf kenne. Yennaa Ayyaanni isaan irratti bu'e raaga dubbatane; ammoo itti deebi'anee raaga hin dubbanne.

²⁶ Maanguddoota torbaatama san keessaa lamaan Eldaadii fi Medaad, addee quttumaatitti hafane malee gara dunkaani'ii hin dhandhe. Te'uu malee, achuma addee quttumaa san keessatti Ayyaanni irratti bu'ee raaga dubbatane.

²⁷ Dargaggeessi tokko gara Muuse'ee rukkisee, «Eldaadii fi Medaad addee quttumaa keessatti raaga dubbatiisatti jiran» jedhee itti hime.

²⁸ Achiin duuba ilmi Nunii Iyaasuun, ka ijoollummaa ifiitii jalqabee qarqaraa Muuse'ee te'e, «Goottaa kiyya Muuse'e! Isaan dhooggi!» jedheen.

²⁹ Muuseen ammoo deebisee, «Ati naaf jettee hinaafaartaa? Kolbaan Mootii Waan Maraa martinuu adoo raagota te'anee, Mootiin Waan Maraa adoo Ayyaana ifii isaan irratti buusee, ani hin jaaladha!» jedhe.

³⁰ Achiin duuba Muuse'ee fi maanguddooti Israa'elii sun gara addee quttumaa deebi'ane.

Mootiin Waan Maraa Barbadi-kille Erge

³¹ Dedhuma Mootiin Waan Maraa qilleensa ergee abbaayaa irraa barbadi-kille oofee gara addee quttumaa fide; barbadi-killeen sun lafa irraa meetira

tokkoo tuulamanee, addee quttumaatii fi adaala addee quttumaa san maddii maraanuu, haga ideensa guyyaa tokkoo guutane.

³² Maarre kolbaan guyyaa sanii fi halkan san guutuu, guyyaa itti aanulle guutuu, barbadi-killee san qabatane; nami homerii kudhanii[†] gad wolitti qabate hin jiru. Isaan goffatiisaaf adaala addee quttumaa san duudi'itti afane.

³³ Ammoo foon san adoo nyaatiisatti jiranuu, Mootiin Waan Maraa kolba'atti aaree, balaa guddaa isaanitti fide.

³⁴ Tanaaf, worra sagalee dhibii dharra'e waan achitti awwaalaneef, maqaa addee sanii «Qibrot-Hatawaa[‡]» jedhane.

³⁵ Kolbaan Qirot-Hatawa'aa kaatee, Haseroot dhaxxee qubate.

12

Miiryaamii Fi Aaron Muusee Mormane

¹ Muuseen intala worra Itoophiya'aa* waan fuudheef, Miiryaamii fi Aaron isa irratti ka'anee,

² «Mootiin Waan Maraa karaa Muuse'ee qofaan dubbateeraa? Inni karaa keennalle'een dubbateeraa motii?» jedhane. Mootiin Waan Maraa waan isaan jedhane dhage'e.

³ Muuseen namoota lafa irra jiranu mara caalaa, gadhi-laafessa.

⁴ Dedhuma Mootiin Waan Maraa Muuse'een, Aaronii fi Miiryaamiin, «Isin sadiinuu gara Dunkaanii Woldeenna'aa kowaa» jedhe. Maarre isaan sadiinuu dhaqane.

⁵ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa utubaa duumensa keessa gad bu'ee, seensuma dunkaani'ii irra dhaabbatee, Aaronii fi Miiryaam waame. Isaan lamaanuu gara duraa yennaa dhufane,

⁶ inni isaaniin, «Amma jecha kiyya dhage'a'a! Raagaan tokko odduu teessan yoo jiraate, ani mudhi'iin isatti ifi mudhisa; oojjuulle'een isatti hin dubbadha.

⁷ Muusee tajaajilaa kiyya waliin ammoo akkas hin dubbadhu; inni mana kiyya mara keessatti addatama'a.

⁸ Ani isa waliin ifatti, fuula duratti dubbadha malee, hiibbo'oonii moti; inni akka akki kiyya jiruuyyuu hin dhagga! Isin attam tajaajilaa kiyya Muusee irratti dubbatiisa sodaatuu dhaddane?» jedhe.

⁹ Mootiin Waan Maraa guddoo isaanitti aaree isaan biraa deeme.

¹⁰ Yennaa duumensi dunkaanii irraa ka'e, Miiryaamiin dhukkuba goga'aa farrisiisa'aan qabantee adii akka dhakaa bokkeyaa teete. Aaron garagalee Miiryaam yennaa ilaale, isiin dhukkuba goga'aa farrisiisa'aan qabanteertuun dhagge.

¹¹ Achiin duuba Aaron Muuse'een, «Magganne'e, gootaa kiyya, cubbuu nuuti gowwumma'aan hunye tana nutti hin laakkowin.

¹² Akka finna adoo hin dhalatin du'ee, shamiisatti jiruun gadaamessa haadhaa keessaa bayuu, isii hin tolchin» jedhe.

¹³ Maarre Muuseen gara Mootii Waan Maraa iyyee, «Ee, Waaqa, isii fayyis!» jedhe.

¹⁴ Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Abbaan isi'iituu fuula isi'iititti yoo tufe, isiin guyyaa torba hin fokkifattii motii? Maarre isiin guyyaa torba addee quttumaatii baatuu ti; achiin duuba deebi'uu hin dandeetti» jedhe.

[†] 11:32 *Homerii kudhan*: Homeriin kudhan fe'iisa harre'ee kudhan hin teeti. [‡] 11:34 *Qibrot-Hatawaa*: Afaan Ibrootaatiin *Awwaala Halchuu* jechu'u. * 12:1 *Itoophiyaa*: Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali.

¹⁵ Maarre Miiryaam addee guttumaatii baatee guyyaa torba turte; haga isiin deebitutti kolbaalle addee guttumaatii hin tachoone.

¹⁶ Achiin duuba kolbaan sun Haserootii kaatee goomolee Phaaraanii keessa qubatte.

13

Worra Dooyiisaaf Gara Lafa Kana'aanii Ergame (Kes. 1:19-33)

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

² «Lafa Kana'aanii ta ani Israa'elootaaf kennu san dhaqanee akka dooyanuuf, gosa Israa'elii kudhanii lamaanuu keessaa sooreessa tokko tokko filii ergi» jedhe.

³ Maarre Muuseen akka ajaja Mootii Waan Maraatitti goomolee lafa Phaaraanii keessaa isaan erge; isaan martinuu sooreyyii Israa'elootaa ti.

⁴ Maqaan isaanii ka asii gad jiru kana: Gosa Ruubenii keessaa, Shamaa'uu ilma Zaakurii ti;

⁵ gosa Shimi'oonii keessaa, Shaafaatii ilma Horii ti;

⁶ gosa Yihuda'aa keessa, Kaalebii ilma Yofunee ti;

⁷ gosa Yisaakorii keessaa, Yigaalii ilma Yoseefii ti;

⁸ gosa Efreemii keessaa, Hose'aa ilma Nunii ti;

⁹ gosa Beniyaaminii keessaa, Phaaltii ilma Raafuu ti;

¹⁰ gosa Zebuloonii keessaa, Gaadi'elii ilma Sodii ti;

¹¹ gosa Minaase'ee gosa Yoseefii keessaa, Gadii ilma Susii ti;

¹² gosa Daanii keessaa, Amii'elii ilma Gemaalii ti;

¹³ gosa Asheerii keessaa, Sexurii ilma Mikaa'elii ti;

¹⁴ gosa Naftaalemii keessaa, Nahibii ilma Wofsii ti;

¹⁵ gosa Gaadii keessaa, Gewu'elii ilma Maakii ti.

¹⁶ Maqaan namoota Muuseen akka dhaqanee lafa san dooyanuuf erge isaan kana; Muuseen Hose'aa ilma Nuii, «Iyaasuu» jedhee maqaa moggaase.

¹⁷ Muuseen lafa Kana'aanii akka dooyanuuf yennaa isaan erge, «Karaa kibba Kana'aaniitiin* gara biyya koobitti'ii ol baya'aatii,

¹⁸ latti sun attam akka jirtu, kolbaan achi keessaa jajjadduu yookiin dadhadduu, hedduu yookiin diqqoo akka teete,

¹⁹ latti isaan keessa le'anuu dansaa yookiin badduu akka teete, qachaan isaan keessa le'anuu ka dalleya hin qanne yookiin ka dalleya dhaka'aa qabu akka te'e,

²⁰ lattiille jiituu yookiin godduu akka teete, muki akka irra jiruu fi hin jirre ilaala'a. Itti jabaadha'aatii, midhaan lafa sanii keessaa garii fida'a» jedhe. Yennaan sun yennaa midhaan woyni'ii ka qaraa bilchaatu.

²¹ Maarre isaanille ol bayanee goomolee Ziiniitii kaasane haga Rehoobii, ta seensuma qachaa Haamaatitti dhikoo jirtuu dooyane.

²² Isaan karaa Negebiitiin†, addee sanyiin Aanaaqotaa gosi Ahimaanii, gosi Sheshaayiitii fi gosi Talmaayii le'anuu gara Hebroonii dhufane. Hebroon qachaan biyya Gibxi'ii keessaa Zo'aan adoo hin ijaaraminiin dura woggaa torbaan dura ijaarante.

²³ Isaan dhooqa Eshikolii yennaa geyane, unkuruura midhaan woyni'ii muranee, wodhakkaa isaan lamaaniititti danqaraa irra keyanee gurmuu irratti ba'atane, midhaan muka Rumaaniitii fi harru'uu woliin fidane.

* **13:17** Kibba Kana'aaniitiin: Afaan Ibrootaatiin Negebiitiin jedha. † **13:22** Negeb: Yaadannoo Dad. 24:62 irratti kenname ilaali.

²⁴ Israa'elooti unkuruura midhaan woyni'ii achii waan murataneef, addee san, «Dhooqa Eshikolii‡» jedhanee moggaasane.

²⁵ Isaan guyyaa afurtamaaf lafa san dooyanee deebi'anee,

²⁶ Qaadeshitti goomolee Phaaraanii keessatti gara Muuse'ee, gara Aarooniitii fi gara kolbaa Israa'elii duudi'ii dhufanee waan dhaggane wolde'a duudi'itti himanee, midhaan lafa saniille isaanitti mudhisane.

²⁷ Isaan Muuse'een, «Nuuti lafa ati itti nu ergite san dhandheerra; isiin lafa aananii fi dammaa ti; midhaan lafa saniille kunoo ti.

²⁸ Garuu kolbaan lafa san keessa leetu jajjaddu'u; qachooti isaaniille akka malee gugurdaa ka dalleya dhaka'aa qabanu; nuuti sanyii Aanaaqotaalle achitti dhaggineerra.

²⁹ Worri Amaaleqootaa lafa kibba Kana'aanii keessa le'an; worri Heetotaa, worri Yibusootaatii fi Amoorotaa biyya Koobittii keessa le'an; worri Kana'aanotaa qarqara abbaayaa Mediteraaniya'aatii fi laga Yordaanosii le'an» jedhane.

³⁰ Achiin duuba Kaaleb kolbaa Muusee duratti cadhisiisee, «Nuuti isaan injifatiisa waan dandeennuuf, ammuma dhandhee lafa san qabannuu ti» jedhe.

³¹ Namooti Kaaleb woliin dhaqane ammoo, «Isaan nu caalaa worra jajjaba waan te'aneef, nuuti isaan loliisaaf hin dandeennu» jedhane.

³² Maarre isaan marroo lafa dhaqanee dooyanee oduu gadhee odeessanee, «Latti nuuti dhandhee dooyanne sun, lafa worra isii keessa le'iisaaf dhaqu fixxu; kolbaan nuuti achitti dhaggine martinuu dhedheertu'u.

³³ Nuuti achitti namoota hojja'aa fi hunnaan nama caalanu sanyii Aanaaqotaa Nefiliim dhaggineerra; nuuti yennaa ifi ilaallu korophiisa ifitti fakkaanne; isaanille'etti akkasuma fakkaanne» jedhane.

14

Kolbaan Gungunte

¹ Halkan san guutuu kolbaan duudiin qoonqoo ol qabattee bootte.

² Israa'elooti marti Muuse'ee fi Aaron irratti gungumanee, wolde'i marti isaaniin, «Biyya Gibxi'ii keessatti yookiin as goomolee keessatti adoo dhumannee jiraannee nuu woyyaayyu!

³ Mootiin Waan Maraa maaniif akka shallaaga'aan dhumannu lafa tana nu fide? Dubartooti teennaa fi ijoolleen teenna hin fudhatan. Gara biyya Gibxi'ii deebi'uu nuu hin woyyuu?» jedhane.

⁴ Maarre isaan, «Kowa'a, sooreessa filannee, gara biyya Gibxi'ii deebinaa!» woliin jedhane.

⁵ Achiin duuba Muuse'ee fi Aaron wolde'a kolbaa Israa'elii mara duratti fuulaan lafatti gad gombifamane.

⁶ Worra lafa dooyane san keessaa lamaan, ilmi Nunii Iyaasu'uu fi ilmi Yofune'ee Kaaleb gaddanee woyaa ifi irratti tarsaasane,

⁷ Wolde'a kolbaa Israa'elii duudi'iin, «Latti nuuti dooyiisaaf keessa ideenne guddoo dansa'a.

⁸ Mootiin Waan Maraa yoo nutti gammade, lafa aananii fi dammaa tana nuuf kennee itti nu hin galcha.

⁹ Isin callaan Mootii Waan Maraa irratti hin ka'inaa malee, nuuti akka daabbo'oo isaan waan liqinsinuuf, kolbaa biyya sanii hin sodaatina'a. Gaad-disi isaanii isaan irraa deemeera; nu woliin ammoo Mootiin Waan Maraa hin jira; isaan hin sodaatina'a» jedhane.

‡ 13:24 Eshikol: Afaan Ibrootaatiin unkuruura midhaan woyni'ii jechu'u.

¹⁰ Ammoo wolde'i sun duudiin dhaka'aan isaan tumiisaaf dudubbatane. Achiin duuba dedhuma ulfinni Mootii Waan Maraa Dunkaanii Wold-eenna'aatitti Israa'eloota maratti mudhate.

Muuseen Kolba'aaf Daadimate

¹¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Kolbaan tun haga Yoomii na tuffatti? Adoo ani bilbaasa odduu isaaniititti tolchiisatti jiruu, haga yoomii natti dhugeeffatuu didan?

¹² Ani balaa itti buusee isaan hin balleessa; si ammoo kolbaa isaan caaltuu fi isaan caalaa jabaattuuf abbaa hin godha» jedhe.

¹³ Muuseen ammoo Mootii Waan Maraatiin, «Ati hunna teetiin kolbaa tana biyya Gibxi'ii keessaa waan baatteef, Worri biyya Gibxi'ii waan ati kolbaa tana goote hin dhage'an.

¹⁴ Worra lafa tana keessa le'utti hin himan. Ee Mootii Waan Maraa, ati fuula duratti mudhattee, kolbaa tana odduu akka jirtu, duumensi keeti isaaniin gubbaa akka jiru, ati guyyaa utubaa duumensaatiin, halkan utubaa ibiddaatiin isaaniin dura akka ideente duruu dhage'aneeran.

¹⁵ Ati amma yennuma tokkotti kolbaa tana duudii yoo ijeette, gosi biyya adda addaa ta gurra keeti dhageetteertu,

¹⁶ «Mootiin Waan Maraa kolbaa tana biyya isi'iif kenniisaaf kaku'uun waadaa galetti galchuu waan dadhabeef, goomolee keessatti fixe» hin jedhan.

¹⁷ Tanaaf, amma Mootii Waan Maraa, hunna teeti nutti mudhisi. Ati dur,

¹⁸ «Ani Mootiin Waan Maraa aariisaaf hin ariifadhu; jaalalli kiyya ka bara baraa gudda'a; cubbu'uu fi irra-dabara namaaf hin lakkisa; te'uu malee, yakkaamessa adoo hin adabin hin lakkisu; ijoollee sababa yakkaa abbooti'iitiif haga dhaloota sadiitii fi afuriititti hin adaba» jetteerta.

¹⁹ Ammalle akka jaalala keeti guddaa ka bara baraatitti, akkuma yennaa isaan biyya Gibxi'iitii ka'anee jalqaddee haga ammaatitti isaaniif ossatte, kolbaa tana cubbuu isaanii isaaniif araaram» jedhe.

²⁰ Mootiin Waan Maraa deebisee, «Akkuma ati daadimattetti, anille isaaniif araaramaera.

²¹ Te'uu malee ani jiraataa ulfinni kiyya lafa duudii guutu waan te'eef,

²² namoota ulfinna kiyyaa fi bilbaasa adda addaa ka ani biyya Gibxi'iitii fi goomolee keessatti mudhise dhagganee naaf ajajamuu didanee, yennaa hedduu haga na ilaalane kana keessaa nami tokkolle,

²³ lafa ani abbootii isaaniitiif kaku'uun waadaa gale san ijjumaa hin dhaggu. Worra na tuffate keessaa nami tokkolle ijjumaa isii hin dhaggu.

²⁴ Ammoo tajaajilaan kiyya Kaaleb ilaalcha adda te'e waan qabuu fi gadhaa tokkochoan waan na hordofeef, lafa inni dhagee dooye sanitti isa hin galcha; sanyiin isaa lafa san hin dhaalti.

²⁵ Worri Amaaleqootaati fi worri Kana'aanotaa dhooqa keessa waan le'anuuf, boru deebi'a'atii karaa abbaayaa diintu'uutiin gara goomole'ee deema'a» jedhe.

Kolbaan Waan Gungunteef Mootiin Waan Maraa Adabe

²⁶ Mootiin Waan Maraa Muuse'ee fi Aaroniin,

²⁷ «Haga yoomii kolbaan jallaamettiin tun na irratti gungunti? Ani gungunsuu Israa'elootaa tana dhage'eera.

²⁸ Ati isaaniin, «Mootiin Waan Maraa: Ani jiraata'a; waan isin dubbatanuun dhage'e, akkuma isin jettane isin irratti hin godha.

²⁹ Isin worri laakkowantane, akka laakkossa keessan maraatitti worri woggaan teessan woggaa diddamaatii fi woggaa diddamaa olii, worri na irratti gunguntane, as lafa goomole'ee tana keessatti hin dhumattan.

³⁰ Kaalebii ilma Yofune'eetii fi Iyaasuu ilma Nunii malee, akka isin itti galtanee leetanu lafa waadaa isiniif galetti, isin keessaa nami tokkolle itti hin galu.

³¹ Ijoollee teessan ta isin hin fudhataman jettanu, ani ammoo, lafa isin tuffatane sanitti akka isaan gammadanu isaan itti hin galcha.

³² Isin ammoo dhumattanee reeffi keessa goomolee tana keessatti hin hafa.

³³ Ijoolleen teessan woggaa afurtama goomolee tana keessa tissitoota hin te'an; haga marti keessan duutane dhumattanutti, sababa dhugeeffannaa dhabiisa keessaniitiif achitti hin rakkatan.

³⁴ Akkuma guyyaa afurtama lafa san dooyiisa irratti fixxane, akkasuma guyyaan tokko woggaa tokkotti laakkowamee, woggaa afurtamaaf cubbuu teessaniif hin rakkattan. Yennaa san isin irratti ka'iisa kiyya hin beettan.

³⁵ Ani Mootiin Waan Maraa tana dubbadheera; kolbaa jallaamettii wolii galtee na irratti kaate tana irratti tana hin fida; isaan goomolee tana keessatti du'anee, hin hobba'an jedha» jedhi» jedhe.

³⁶ Namooti Muuseen akka lafa san dhaqanee dooyanuuf erginaan, achii deebi'anee marroo biyya sanii oduu gadhee kolba'atti odeessanee akka kolbaan Muusee irratti gunguntu godhane,

³⁷ marroo lafa sanii oduu gadhee waan odeessaneef, balaan itti bu'ee Mootii Waan Maraa duratti du'ane.

³⁸ Namoota lafa san dooyiisaaf dhaqane keessaa, Iyaasuu ilma Nuniitii fi Kaalebii ilma Yofune'ee qofatti hafe.

Lafa Qabatiisaaf Wodhaansa Isaanii

(Kes. 1:41-46)

³⁹ Muuseen waan kana Israa'eloota maratti yennaa hime, isaan laaleffatane bowane.

⁴⁰ Isaan boruuyyaa ganama ka'anee biyya koobittii qaccee gaaraatitti ol bayanee, «Nuuti cubbuu hunyeerra; garuu gara addee Mootiin Waan Maraa waadaa nuu galee ol hin baana» jedhane.

⁴¹ Muuseen ammoo, «Isin ammalle maaf ajaja Mootii Waan Maraatiif ajajamuu diddan? Tun isiniif hin teetu.

⁴² Mootiin Waan Maraa waan isin waliin hin jirreef ol hin bayina'a. Diinoti keessan isin hin injifatan.

⁴³ Worri Amaaleqootaatiif fi worri Kana'aanotaa achitti isinitti hin dhufan; sababa isin Mootii Waan Maraa irraa fagaattanee innille isin waliin hin jirreef, shallaaga'aan hin dhumattan» jedhe.

⁴⁴ Te'uu malee, isaan gara gaara biyya koobitti'ii ol bayiisumatti gamane. Saanduqi Gondooroo Mootii Waan Maraatiif fi Muuseen ammoo addee qutumaa lakkisane hin kaane.

⁴⁵ Achiin duuba worri Amaaleqootaatiif fi worri Kana'aanotaa ka biyya koobittii san keessa le'anuu gad dhufanee, isaan lolanee, haga Horma'aa gad isaan ari'ane.

15

Kennansa Adda Addaa

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

² «Ati Israa'elootaan, «Mootiin Waan Maraa: Lafa akka isin keessa leetanuuf ani isiniif kennutti yennaa galtane,

³ kennansa gubamuuf yookiin ciinca'aafille, waadaa addaa yookiin kennansa fedhii teessanii yookiin kennansa guyyaa jilaa loon keessaa yookiin hoolee keessaa kennansa foolee dansaa qabu ka ana Mootii Waan Maraa gammachiisu godha'aatii ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessa'a.

⁴ Nami kennansa ifii dhikeessu kennansa midhaanii bullaa dansaa gara kiiloogiraama tokkoo, ta zayitii ejersaa gara litirii tokkootiin sukkuumante ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessuu ti.

⁵ Buruusoo hoole'ee ta kennansa gubamuuf yookiin ciinca'aaf dhikaattu tokko tokkooyyuu woliin kennansa daadhii woyni'ii gara litirii tokkoo dhikeessuu ti.

⁶ Korbeessa hoole'ee woliin kennansa midhaanii bullaa dansaa kiiloogiraama lama ta zayitii ejersaa gara litirii tokkoo fi wodhakka'aatiin sukkuumante dhikeessuu ti.

⁷ Daadhii woyni'ii gara litirii tokkoo fi wodhakkaa ta foolee dansaa qaddu ta ana Mootii Waan Maraа gammachiittulle dhikeessuu ti.

⁸ Kennansa gubamuuf yookiin ciinca'aaf, kennansa addaa yookiin kennansa tokkumma'aa dardara tokko ana Mootii Waan Maraatiif yennaa dhikeessu,

⁹ dardara san woliin kennansa midhaanii, bullaan dansaan kiiloogiraama sad ta zayitii ejersaa gara litirii lamaatiin sukkuumante dhikeessuu ti.

¹⁰ Kennansa daadhii woyni'iille gara litirii lamaa ta foolee dansaa qaddu ta ana Mootii Waan Maraа gammachiittu dhikeessuu ti.

¹¹ « Dardara tokko tokkooyyuu, korbeessa hoole'ee tokko tokkooyyuu, buruusoo hoole'eetii fi re'e'ee tokko tokkooyyuu akkuma kanatti dhikeessuu ti.

¹² Akkuma laakkossi kennansa hori'ii dabalamuun, tokkoofuu akkasuma godha'a.

¹³ Dhalataan biyya Israa'elii martinuu, kennansa ibiddaan gubamu ka foolee dansaa qabu ka ana Mootii Waan Maraа gammachiisu yennaa dhikeessu, waan kana mara godhuu ti.

¹⁴ Dhaloota dhufu mara keessatti alagaan yookiin nami dhibiin ka odduu teessan le'u kennansa ibiddaan gubamu ka foolee dansaa qabu ka ana Mootii Waan Maraа gammachiisu yennaa dhikeessu, akkuma seera isin ittiin dhikeessitanutti dhikeessuu ti.

¹⁵ Kolbaa keessatti isinii fi alagaa odduu teessan le'uuf seerri tokkuma te'uu ti; kun dhaloota dhufuuf seera bara baraa ti; isinii fi alagaan odduu teessan le'ulle ana Mootii Waan Maraа duratti tokkuma.

¹⁶ Isinii fi alagaan odduu teessan le'u seeraa fi qajeelfamuma tokko hin qabaattan jedha jedhiin» jedhe.

¹⁷ Mootiin Waan Maraа Muuse'een,

¹⁸ «Ati Israa'elootaan, Mootiin Waan Maraа: Lafa ani itti isin geessutti yennaa galtane,

¹⁹ sagalee lafa saniille yennaa nyaattane, sagalee san irraa kennansa ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessa'a.

²⁰ Midhaan keessan ka gara dhowattane irraa bulla sharante irraa bixee hephellittii takkattii, akkuma midhaan eeddummee irraa fuutaneen kennansa dhikeessitanutti kennansa ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessa'a.

²¹ Dhaloota dhufu mara keessatti, midhaan keessan ka garaa irraa bullaa sharante irraa, kennansa kana ana Mootii Waan Maraatiif hin dhikeessitan.

Kennansa Cubbuu Adoo Hin Beekin Hujaneef Dhikaatu

²² « Isin adoo hin beekin ajaja ani Mootiin Waan Maraа Muusee ajaje yoo eegatuu dhaddane,

²³ ajaja ani Mootiin Waan Maraа karaa Muuse'eetiin isin ajaje kana maraa gaafa Muuse'etti kenneen jalqaddanee, dhalootaa haga dhalootaatitti yoo eegatuu dhaddane,

²⁴ kolbaalle adoo hin beekin yoo eegatuu dhadde, kolbaan duudiin dardara tokko kennansa gubamu ka foolee dansaa qabu ka ana Mootii Waan

Maraa gammachiisu dhikeessituu ti! Dardara san wolille'een akka seera isaatitti kennansa midhaaniitii fi kennansa daadhii woyni'ii ka isaa woliin, kennansa araara cubbu'uutiifille korbeessa re'e'ee tokko dhikeessituu ti.

²⁵ Kolbaan adoo hin beekin waan tolchiteef, adoo hin beekin tolchiisa ifitiifille kennansa araara cubbu'uu ana Mootii Waan Maraatiif waan dhi-keessiteef, hayyichi kolbaa duudi'iif gumaa tolchuu ti; isaan araara hin dhaggatan.

²⁶ Kolbaa Israa'elii duudi'ii fi alagaan odduu isaanii le'u duudiin, adoo hin beekin waan itti galaneef, araara hin dhaggatan.

²⁷ « «Nami tokko adoo hin beekin yoo cubbuu huje, suphee re'e'ee ta woggaa tokkoo kennansa araara cubbu'uutiif dhikeessuu ti.

²⁸ Hayyichi nama adoo hin beekin cubbuu huje saniif ana Mootii Waan Maraa duratti gumaa cubbu'uu dhikeessuu ti; inni araara hin dhaggata.

²⁹ Dhalataa biyyaa nama Israa'elii te'u yookiin alagaa maraafuu ka adoo hin beekin cubbuu hujee, seerri tokkuma.

³⁰ « «Dhalataan biyya Israa'elii yookiin alagaan beekaa yoo cubbuu huje ammoo, ana Mootii Waan Maraa waan tuffateef, kolbaa ifii keessaa bawuu ti.

³¹ Inni jecha kiyya waan faanshesseef, ajaja kiyyalle waan diigeef, nami sun dhugumaan kolbaa keessaa bawuu qaba; yakki isaalle isuma irratti hafa jedha» jedhiin» jedhe.

Nama Sanbataan Hujee Adabame

³² Israa'elooti yennaa goomolee keessa jiranu, nami tokko guyyaa Sanbataa qoraan caffatuun dhaggane.

³³ Worri qoraan caffatuun isa dhagge sun gara Muuse'ee fi Aaronii, gara wolde'a Israa'elii duudi'iille isa fide.

³⁴ Maan akka isa godhanu waan hin beekkaminiif akka hidhamu godhane.

³⁵ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Namichi du'uu qaba; wolde'i duudiin addee quttumaatiin alatti dhaka'aan isa tumuu ti» jedhe.

³⁶ Maarre wolde'i duudiin addee quttumaatiin alatti akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajaje, dhaka'aan tumanee isa ijjeesane.

Seera Marroo Handaara Woya'aa

³⁷ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

³⁸ «Ati Israa'elootaan, «Mootiin Waan Maraa: Isin qaccee woyaa teessanii irratti handaara itti baafadha'a; handaara tokko tokkooyyuu irratti jirbii bifa cuquliisaa itti hidha'a. Dhalooti dhufu martinuu tana godhuu ti.

³⁹ Waan gadhaan keessan halche, waan ilti teessan dhaggite gula ideentanee akka hin sagaagalle, akka isin ajaja kiyya maraaf ajajantanu handaarri kun isin qaabachiisa.

⁴⁰ Achiin duuba isin ajaja kiyya maraaf ajajamiisa hin qaabattan; ana Waaqa keessaniifille hin woyyoontan.

⁴¹ Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan, ka Waaqa isinii te'iisaaf biyya Gibxi'ii keessaa isin baase; ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan jedha» jedhiin» jedhe.

16

Qoraahi, Daataanii Fi Abiiram Finqila Kaasane

¹ Ilmi Yizhaarrii Qoraahi akaakoon Qehaatii sanyii Lewwi'ii, ilmaan Eliyaabii Daataanii fi Abiiram, ilmi Pheletii On worri sanyii Ruubenii,

² isaan wolille'een dhiirti Israa'elootaa dhibbi lamaa fi shantam, sooreyyiin kolba'aa worri beekkamane, miseensoti kora mura'aa Muusee irratti ka'ane.

³ Isaan Muuse'ee fi Aaron mormiisaaf wolitti qabamanee dhufanee, isaaniin, «Isin ijumaa bira dabartane! Kolbaan duudiinuu woyyoota; tokko tokkoo isaaniituu Waaqi isaan waliin jira; maarre isin maaf wolde'a Waaqaa irratti ol ifi qaddan ree?» jedhane.

⁴ Muuseen yennaa tana dhage'e, fuulaan lafatti gombifame.

⁵ Achiin duuba Muuseen Qoraahii fi hordofattoota isaa maraan, «Boru barii Mootiin Waan Maraa ka isaa eennu akka te'e, woyyichille eennu akka te'e hin mudhisa; nama san gara ifii hin fida; inni nama filatu san gara ifii hin dhikeessa.

⁶ Atii fi hordofattooti teeti martinuu girgiraa qabadha'aatii,

⁷ boru barii Mootii Waan Maraa duratti kashilaa fi hixaana itti naqa'a. Nami Mootiin Waan Maraa filate nama woyyicha hin te'a. Isin worri Lewwootaa ijumaa bira dabartaneertan» jedhe.

⁸ Muuseen ammalle Qoraahiin, «Ammalle, isin Lewwooti dhage'a'a!

⁹ Waaqi Israa'elii isatti dhikaattanee hujii dunkaanii dhugaa bayaa ta Mootii Waan Maraa akka hujjanuuf, kolbaa dura dhaabbatane akka isaan tajaajiltanuuf, kolbaa Israa'elii keessaa adda isin baasuun isaa isinitti diqqaatee ree?

¹⁰ Inni isinii fi Lewwoota obboleeyyan teessan maraayyuu ifitti dhi-keesseera; isin ammoo ammalle hayyoota te'iisaaf barbaaddan.

¹¹ Tanaaf atii fi hordofattooti teeti martinuu Mootii Waan Maraa mormi-isaaf wolitti qabantane; Aaroniin isin irratti gunguntanu sun eennu inni?» jedhe.

¹² Achiin duuba Muuseen ilmaan Eliiyaabii Daataanii fi Abiiramitti ergee waansise. Isaan ammoo, «Nuuti hin dhunnu;

¹³ ati lafa aananii fi dammaa keessaa nu baachee goomolee keessatti nu ijjeesiisaaf ka as nu fidde si hin geettuu? Ammalle nu irratti gootaa te'iisaaf barbaaddaa?

¹⁴ Ati lafa aananii fi dammaatitti nu hin galchine yookiin ficha'aa fi lafa woyni'ii nuu hin kennine; ati ballaa nu seetaa? Lakkii, nuuti hin dhunnu» jedhane.

¹⁵ Achiin duuba Muuseen guddoo aaree, Mootii Waan Maraatiin, «Ati kennansa isaanii hin fudhatin. Ani harree tokkolle isaan irraa hin fudhanne yookiin isaan keessaa nama tokkolle hin miine» jedhe.

¹⁶ Saniin duuba Muuseen Qoraahiin, «Boru atii fi hordofattooti teeti martinuu, Aaronille Mootii Waan Maraa duratti dhaggama'a.

¹⁷ Namooti keeti martinuu girgiraa ifii qabatane, hixaana itti naqatanuu ti; wolumatti girgiraa dhibba lamaa fi shantama, Mootii Waan Maraa dura dhikeessanuu ti; atii fi Aaronille dhikeessa'a» jedhe.

¹⁸ Maarre nami tokko tokkooyyuu girgiraa ifii qabatee, kashilaa fi hixaana itti naqatee, Muuse'ee fi Aaron waliin addee seensuma Dunkaanii Wold-eenna'aa dhaabbate.

¹⁹ Qoraahi hordofattoota ifii mara fuullee Muuse'ee fi Aaronitti, seen-suma Dunkaanii Woldeenna'aatitti yennaa wolitti qabe, ulfinni Mootii Waan Maraa wolde'a duudi'itti mudhate.

²⁰ Mootiin Waan Maraa Muuse'ee fi Aaroniin,

²¹ «Ani ammuma akka isaan balleessu, isin wolde'a kana irraa adda baya'a» jedhe.

²² Muuse'ee fi Aaron ammoo lafatti gad gombifamanee iyyanee, «Ee Waaqa, ati Waaqa dada maraaf jiruu kennitu. Nami tokko yoo cubbuu huje, ati wolde'a duudi'itti aartaa ree?» jedhane.

²³ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

²⁴ «Ati kolba'aan, «Dunkaanii Qoraahii irraa, dunkaanii Daataaniitii fi dunkaanii Abiiramii irraa fagaadha'a» jedhiin» jedhe.

²⁵ Maarre Muuseen ka'ee gara Daataaniitii fi Abiiramii dhage; jaarsoleen Israa'elii isa gula deemane.

²⁶ Inni wolde'a ifi eeggachiisee, «Dunkaanii namoota jallaameyyii kanaa irraa fagaadha'a! Waan isaanii hin tuqina'a; yoo akkas hin te'in sababa cubbuu isaanii maraatiif isaan waliin hin baddan» jedhe.

²⁷ Maarre isaan dunkaanii Qoraahii irraa, dunkaanii Daataaniitii fi Abiiramii irraa fagaatane.

Daataanii fi Abiiram bayanee dhufanee addee seensuma dunkaanii ifi, dubartoota ifitii fi ijoollee ifi waliin dhaabbataniyyu.

²⁸ Achiin duuba Muuseen wolde'aan, «Waan kana mara akka ani godhu Mootiin Waan Maraa akka na ergeeru, anille hujii tana mara ka huju yaaduma kiyyaan akka hin te'in tanaan beettan:

²⁹ Namooti kun akkuma nami martinuu du'u yoo du'ane yookiin wonni nama irratti te'u callaan yoo isaan irratti teete, Mootiin Waan Maraa na hin ergine.

³⁰ Ammoo Mootiin Waan Maraa waan te'ee hin beenne godhee, waan isaanii mara waliin, latti afaan ifi bantee isaan liqinsitee, isaan jiru'uun addee worri du'e jirutti yoo gad bu'ane, namooti kun akka Mootii Waan Maraa tuffataneeranu hin beettan» jedhe.

³¹ Akkuma Muuseen dubbii tana fixateen, latti Daataanii fi Abiiram jalaa gargar baqaxxee,

³² afaan bantee isaanii fi maatii isaanii, hordofattoota Qoraahiitii fi waan isaan qabanu mara waliin liqinsite.

³³ Maarre isaan jiru'uun addee worri du'e jirutti waan qabanu mara waliin gad bu'ane; latti itti cufantee, isaan kolbaa keessaa badane.

³⁴ Kolbaan israa'elii ta adaala isaanii jirtu marti, iyya isaanii yennaa dhageette, «Latti nu'ulle hin liqinsiti fa'a» jettee baqatte.

³⁵ Ibiddille Mootii Waan Maraa biraa dhufee namoota dhibba lamaa fi shantama, worra hixaana aarsiisatti jiru muxuqi godhe.

³⁶ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

³⁷ «Ele'azaarii ilma Aaronii hayyichaatiin, «Girgirooti hixaana itti aarsane sun woyyoota waan te'aneef, kashila keessaa fuudhi; kashila san fageessii bittinneessi.

³⁸ Girgirooti kun girgiroota namooti jiruu ifi balleessiisaaf cubbuu ittiin hujane; girgirooti kun gara Mootii Waan Maraa dhikaatanee waan woyyoomaneef, hephelleessii tumiitii, gonfaa addee ciinca'aa godhi. Kolbaa Israa'eliitiif ifi eeggannoo te'anuu ti» jedhiin» jedhe.

³⁹ Maarre Ele'azaariin hayyichi girgiraa sageettuu irraa hujamane, ka namooti gubatanee fixamane hixaana itti aarsane san fuudhee, hephelleessee tumee addee ciinca'aatiif gonfaa godhe.

⁴⁰ Akkuma Mootiin Waan Maraa karaa Muuse'eetiin isatti hime, sanyii Aaronii malee, eennulle Mootii Waan Maraa dura dhikaatee hixaana akka hin aarsineef, akka Qoraahiitii fi akka hordofattoota isaalle akka hin teene, Israa'elootaaf waan ittiin qaabatanu godhe.

Aaron Kolbaa Balaa Jalaa Baase

⁴¹ Boruuyyaa kolbaan Israa'elii duudiin, «Isin kolbaa Mootii Waan Maraa ijjeettaneertan» jedhane, Muuse'ee fi Aaron irratti gungumane.

⁴² Yennaa wolde'i Muuse'ee fi Aaron mormiisaaf wolitti qabamee gara Dunkaanii Woldeenna'aa deebi'e ammoo, dedhuma duumensi Dunkaanii Woldeenna'aa gollee, ulfinni Mootii Waan Maraalle mudhate.

⁴³ Achiin duuba Muuse'ee fi Aaron gara Dunkaanii Woldeenna'aa dura dhaqane.

⁴⁴ Mootiin Waan Maraalle Muuse'een,

⁴⁵ «Ani ammuma akka isaan fixuuf isin wolde'a kana irraa fagaadha'a» jedhe.

Muuse'ee fi Aaron fuulaan lafatti gad gombifamane.

⁴⁶ Achiin duuba Muuseen Aaroniin, «Mufiin Mootii Waan Maraa biraa baateerti; balaan jalqabeera; ati girgiraa keeti fudhadhuutii, kashila ibidda addee ciinca'aa irraa itti naqiitii, hixaanalle itti naqiitii, cubbuu isaaniitiif gumaa tolchiisaaf ariifadhuu gara wolde'aa gad bayi» jedhe.

⁴⁷ Maarre Aaron akkuma Muuseen ajaje, girgiraa fudhatee, addee balaan jalqabeeru san rukkisee wolde'a odduu seenee, hixaana aarsee, cubbuu kolba'aatiif gumaa cubbu'uu tolche.

⁴⁸ Inni worra du'anee fi worra jiranu wodhakkaa dhaabbate; balaalle dhaabbate.

⁴⁹ Te'uu malee, worra sababa Qoraahiitiif dhumate adoo hin dabalatin, worri balaa saniin dhumate kuma kudhanii afurii fi dhibba torba.

⁵⁰ Balaan waan dhaabbateef, Aaron addee seensuma Dunkaanii Wold-eenna'aatitti gara Muuse'ee deebi'e.

17

Uleen Aaronii Quunxite

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

² «Israa'elootatti himiitii, sooressitoota gosa abbootii isaanii ta durii irraa ulee tokko tokko wolumatti ulee kudhanii lama fuudhiitii, ulee nama tokko tokkootuu irratti maqaa isaa barreessi.

³ Sooressi gosa abbootii isaanii ta durii tokko ulee tokko waan qabuuf, ulee gosa Lewwi'ii irratti maqaa Aaronii barreessi.

⁴ Uloota san fuudhiitii, addee ani si'iin itti wol dhaggu, Dunkaanii Wold-eenna'aa keessa Saanduqa Gondooro'oo dura keyi.

⁵ Achiin duuba uleen nama ani fileeruu hin quunxiti. Akka kanaan gungumiisa Israa'elootaa ta isaan yennaa mara si irratti gungumanu si irraa kuta» jedhe.

⁶ Maarre Muuseen kanuma Israa'elootatti hime; sooreyyiin gosa Israa'eliille akka gosa gosa ifiititti ulee tokko tokko, wolumatti ulee kudhanii lama isatti kennite; uloota san keessaa takkattiin ulee Aaronii ti.

⁷ Achiin duuba Muuseen uloota san dunkaanii dhugaa bayaa keessaa Mootii Waan Maraa dura keye.

⁸ Boruuyyaa, Muuseen gara dunkaanii dhugaa bayaa yennaa ol seene, uleen Aaronii ta maqaa gosa Lewwi'iitiin dhikaatte, quunxitee, daraartee, midhaan muka, «Almond» jedhamuu buutteertiyyu.

⁹ Achiin duuba Muuseen uloota san mara Mootii Waan Maraa duraa fuudhee Israa'eloota maratti mudhise. Isaan uloota san ilaalanee, sooreyyiin tokko tokkoon isaaniituu ulee ifii fudhatane.

¹⁰ Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Worra fiqila'aaf beessisa akka teetu, ulee Aaronii Saanduqa Gondooro'oo duratti deebisi. Tun isaan na irratti gungumane akka hin dhumanne gooti» jedhe.

¹¹ Muuseen akkuma Mootiin Waan Maraa isa ajaje godhe.

¹² Achiin duuba Israa'elooti Muuse'een, «Nuuti hin duuna! Nuuti dhumataarra! Marti keennaayyuu badaarra!

¹³ Nami tokkolle yoo dunkaanii dhugaa bayaa ta Mootii Waan Maraa bira dhufe hin du'a. Marti keennaayyuu dhumannuu tii ree?» jedhane.

18

Hujii Hayyootaatii Fi Lewwootaa

¹ Mootiin Waan Maraa Aaroniin, «Atii fi ilmaan teeti, maatiin abbootii teetii ta durii yakkaa addee Woyyittii keessatti hujjaneef itti gaafatantan; yakkaa tajaajila hayyumma'aatiif ammoo si'ii fi ilmaan teeti qofatti itti gaafatama.

² Atii fi ilmaan teeti, dunkaanii dhugaa bayaa duratti yennaa tajaajiltanu akka isin qarqaaranu, gosa abbootii teetii ta durii keessaa obboleeyyan teeti Lewwoota as fidi.

³ Isaan itti gaafatamummaa teeti jalatti hujii dunkaani'ii hujanuutii malee, meya Addee Woyyitti'ii yookiin addee ciinca'aa tuquu hin qabanu. Yoo tuqane atii fi isaanille hin duutan.

⁴ Isaan itti gaafatamummaa eegiisa Dunkaanii Woldeenna'aa fudhatanee, hujii dunkaanii keessatti hujatu mara hujjiisaan si qarqaaran; nami gosa Lewwi'ii hin te'in ammoo si woliin hin hujin.

⁵ Mufiin tiyya ammalle Israa'elootatti akka hin deebine, tajaajila Addee Woyyitti'itii fi addee ciinca'aa si'ii fi ilmaan teeti qofatti itti gaafatama.

⁶ Ani Mootiin Waan Maraa obboleeyyan teessan Lewwoota, Israa'eloota oddu'uu filee, hujii Dunkaanii Woldeenna'aa keessaa akka hujanuuf isinii kenneera.

⁷ Te'uu malee, hujii addee ciinca'aatii fi hujii gollaa keessaa mara si'ii fi ilmaan teeti qofatti itti gaafatama. Akka isin hayyoota teetanee tajaajiltanuuf, ani hujii hayyumma'aa isiniif kenneera; isin malee nami dhibiin ka addee woyyitti'itti dhikaatu ijjeefamuu ti» jedhe.

Qooda Hayyootaa

⁸ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Aaroniin, «Kennansa naaf dhikaatu mara irratti itti gaafatamaa si godheera; kennansa woyyicha Israa'elooti naaf kennitu mara si'ii fi ilmaan teetiif qooda yennaa maraa akka te'u kenneera.

⁹ Kennansa irra caalaa woyyichaa ka ibiddaan hin gubanne ifiif fudhadhu; kennansa irra caalaa woyyichaa ka isaan naaf kennanu marti, kennansi midhaanii yookiin kennansi gumaa cubbu'uutiif dhikaatu yookiin kennansi isaan sababa yakka'aatiif dhikeessanu marti keetii fi ka ilmaan teetii ti.

¹⁰ Addee Woyyittii keessatti waan kana mara nyaadhu; dhiirti marti waan kana nyaattuu ti; wonni kun si'iif woyyu'u.

¹¹ «Kennansi tachoofamu ka Israa'elooti dhikeessitu marti keeti te'uu ti; ani si'iif, ilmaan teetii fi ijoollee durraa teetiif qooda yennaa maraa akka te'u kenneera. Nami mana keeti keessa jiru ka akka aadaa dhugeeffanna'aatitti qulqulluu te'e marti nyaattuu hin dande'a.

¹² «Zayitii ejersaatii fi daadhii woyni'ii keessaa ta caaltu, midhaan mata'aa keessaa ka caalu, ka Israa'elooti ana Mootii Waan Maraatiif kennane ani sii hin kenna.

¹³ Midhaan mata'aa ka lafa isaanii keessaa, ka isaan ana Mootii Waan Maraatiif fidanu marti keeti. Nami mana keeti keessa jiru ka akka aadaa dhugeeffanna'aatitti qulqulluu te'e marti nyaattuu hin dande'a.

¹⁴ «Israa'el keessaa wonni ana Mootii Waan Maraatiif murteeffame marti keeti te'uu ti.

¹⁵ «Wonni Angafa te'e marti, nami yookiin horiin ka Israa'elooti ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessanu keeti te'anuu ti. Angafa namaatii fi angafa hori'ii ka qulqulluu hin te'iniif ammoo wodoo fudhatuu qadda.

¹⁶ Ijoolleen ji'a tokkoo, akka sheeqelii Addee Woyyitti'iititti meetii sheeqelii shan ta gara geraa diddama madaaltuun wodamanuu ti.

¹⁷ Angafi loonii, angafi hoole'ee, angafi re'e'ee ammoo woyyuu waan te'aneef wodoo hin fudhatin; dhiiga isaanii addee ciinca'aatitti fiffixi; cooma isaanille kennansa ibiddaan gubamu ka foolee dansaa qabu ka ana Mootii Waan Maraa gammachiisu godhiitii addee ciinca'aa irratti gubi.

¹⁸ Foon isaanii akkuma foon cormi'itii fi foon luka middaa ka kennansa tachoofamuuf dhikaatuu keeti te'uu ti.

¹⁹ «Kennansi woyyichi ka Israa'elooti ana Mootii Waan Maraatiif dhi-keessitu marti si'iif, ilmaan teetii fi ijoollee durraa teetiif qooda yennaa mara akka te'u kenneera. Tun si'ii fi sanyii teetiif ana Mootii Waan Maraa duratti Gondooroo sooddaa ti*» jedhe.

²⁰ Mootiin Waan Maraa ammalle Aaroniin, «Ati lafa Israa'elii keessaa dhaala hin fudhatu; Israa'el odduulle'etti qooda lafaa hin qabaattu. Israa'el oddu'utti ani Mootiin Waan Maraa qooda keetii fi dhaala keeti.

Qooda Lewwootaa

²¹ «Lewwooti Dunkaanii Woldeenna'aa keessa waan tajaajilanuuf, waan kolbaan Israa'elii kudhan keessaa tokko naaf fiddu mara ani isaaniif dhaala godhee kenneera.

²² Cubbuu itti te'ee akka hin duune, Israa'elooti dhibiin ammaa jalqabane Dunkaanii Woldeenna'aatitti hin dhikaatin.

²³ Worri Lewwootaa Dunkaanii Woldeenna'aa keessa tajaajilanuu ti. Isaan yakkaa achi keessatti hujanuuf itti hin gaafataman. Kun dhaloota dhu-fuuf seerata bara baraa ti. Isaan Israa'eloota oddu'utti lafa dhaalanu hin qabaatanu.

²⁴ Waan Israa'elooti kudhan keessa tokko kennansa addaa godhane ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessanu, ani Lewwootaaf kenneera; tanaaf ani isaaniin, «Israa'eloota oddu'utti lafa dhaaltanu hin qabaattan» jedheera» jedhe.

²⁵ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

²⁶ «Ati worra Lewwootaatiin, «Waan Israa'elooti kudhan keessaa tokko ana Mootii Waan Maraatiif fiddu, ka ani dhaala keessan godhee isiniif kennu san yennaa fudhattanu, isinille ka fudhattanne san keessaa kudhan keessaa tokko kennansa ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessa'a.

²⁷ Kennansi keessan kun akka midhaan eeddummee keessaa kennamuutii fi akka cunfaa woyni'ii ta addee woynii itti cunfanu keessaa kennantuutitti isiniif hin laakkowama.

²⁸ Akka kanaan isinille waan Israa'elooti kudhan keessaa tokko ana Mootii Waan Maraatiif fiddu, ka fudhattanu mara irraa qooda kiyya Aaronii hayyichatti kenna'a.

²⁹ Kennansa fudhattanu mara keessaa ka irra caalaa dansaa te'ee fi irra caalaa woyyicha te'e qooda kiyya godha'aatii dhikeessa'a.

³⁰ Isin waan irra caalaa dansaa san yennaa dhikeessitanu, akkuma midhaan eeddummee keessaa kennamuutii fi akka cunfaa woyni'ii ta addee woynii itti cunfanu keessaa kennantuutitti isiniif hin laakkowama.

³¹ Tajaajila isin Dunkaanii Woldeenna'aa keessa tajaajiltanuuf kaffaltii waan isinii te'uuf, isinii fi maatiin teessan waan hafe san eessalle'etti nyaatuu hin dandeettan.

* **18:19 Gondooroo sooddaa:** Gondooroon sooddaan godhantu ta ijjumaa hin diiganne.

³² Eega waan irra caalaa dansaa te'e dhikeessitane, isin yakkaameyyii hin teetanu. Achiin duuba kennansa woyyicha Israa'elootaa hin batteessitanu; hin duutanulle'e» jedhi» jedhe.

19

Seera Bisaan Ittiin Qulqulloomiisaa

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'ee fi Aaroniin,

² «Kun qajeelfama seeraa ka ani ajaje: Goronsa arrowa komii hin qanne, ka waanjoon mormarra keyamee hin beenne akka fidanu Israa'elootatti himi.

³ Goronsa san Ele'azaarii hayyichatti kenna'a. Goronsi sun fuudhamee addee quttumaatiin alatti hayyicha duratti gorra'amuu ti.

⁴ Achiin duuba hayyichi Ele'azaar dhiiga goronsaa quba ifitiin diqqaa isaa fuudhee yennaa torba fuullee Dunkaanii Woldeenna'aatitti fiffixuu ti.

⁵ Goronsi sun gogaan isaa, foon isaa, dhiigii fi meen gadhaa isaalle duudiin hayyicha duratti gubamuu ti.

⁶ Hayyichi muka hindheensaa, damee hisoophiitii fi liilana diimaa fuudhee ibidda goronsi keessatti gubamiisatti jiru sanitti qolaansuu ti.

⁷ Achiin duuba, inni woyaa ifitii fi nafa ifii bisaaniin dhiqatee, gara addee quttumaa deebi'uu ti; garuu haga galgalaatitti akka aadaa dhugeeffannaa'aatitti qulqullu'uu moti.

⁸ Nami goronsa gube woyaa ifitii fi nafa ifii bisaaniin dhiqatuu ti; innille haga galgalaatitti qulqullu'uu moti.

⁹ Achiin duuba nami akka aadaa dhugeeffanna'aatitti qulqulluu te'e daadhaa goronsaa san haree, addee quttumaatiin alatti, addee akka aadaa dhugeeffanna'aatitti qulqulluu teete keessatti naquu ti; daadhaan sun kolbaa Israa'eliitiif bisaan ittiin qulqulloomanu qopheessiisaaf te'a. Kunille cubbuu irraa ittiin qulqulleessiisaaf te'a.

¹⁰ Namichi daadhaa goronsaa harelle woyaa ifii dhiqatuu ti; innille haga galgalaatitti qulqullu'uu moti. Kun Israa'elootaa fi orma odduu isaanii le'uufille seerata haga bara baraa hin te'a.

¹¹ «Nami reeffa namaa tuqe marti guyyaa torbaaf akka aadaa dhugeeffanna'aatitti qulqullu'uu moti.

¹² Inni guyyaa sadeesso'ootii fi guyyaa torbeesso'oo bisaaniin ifi qulqulleessuu ti; achiin duuba qulqulluu hin te'a; guyyaa sadeesso'ootii fi guyyaa torbeesso'oo yoo ifi hin qulqulleessin ammoo qulqulluu hin te'u.

¹³ Nami reeffa namaa tuqee adoo ifi hin qulqulleessin hafe, dunkaanii dhugaa bayaa tiyya hin batteessa; inni kolbaa Israa'elii keessaa bawuu ti. Bisaan ittiin qulqulloomiisaa isatti waan hin fiffixaminiif, battummaan isaa isuma irratti hafa.

¹⁴ «Nami tokko dunkaanii keessatti yennaa du'u seerri muummeffamu ka asii gad jiru: Nami tokko dunkaanii keessatti yoo du'ee, nami dunkaanii keessa jiru yookiin nami gara dunkaanii sanii seenu guyyaa torbaaf qulqullu'uu moti.

¹⁵ Meen afaan banaa jiru ka cuqqaallaan jabaan irra hin jirre marti qulqullu'uu moti.

¹⁶ Nami nama shallaaga'aan diidatti ijjeefameeru yookiin nama akka sumaan du'eeru yookiin lafee namaa yookiin irreensa namaa tuqe, guyyaa torbaaf qulqullu'uu moti.

¹⁷ «Nama san qulqulleessiisaaf, daadhaa goronsa arrowaa ka cubbuu ittiin qulqulleessiisaaf gubate irra diqqaan isaa fuudhamee, okkote'etti naqamee, bisaan maddaa itti naqamuu ti.

¹⁸ Achiin duuba nami akka aadaa dhugeeffanna'aatitti qulqulluu te'e damee hisoophii fuudhee, bisaan keessa cuuphee, dunkaani'itti, waan dunkaanii keessa jirutti, namoota achi jiranu maratti, ka lafee nama du'ee tuqetti yookiin ka irreensa tuqetti yookiin ka nama ijjeefame tuqetti yookiin ka reeffa nama akkasumaan du'e tuqetti fiffixuu ti.

¹⁹ Nami qulqulluu te'e, guyyaa sadeesso'ootii fi guyyaa torbeesso'oo nama qulqulluu hin te'initti bisaan fiffixuu ti. Guyyaa torbeesso'oo sanitti isa qulqulleessuu ti. Nami qulqulloome sun woyaa ifitii fi nafa ifi bisaaniin dhiqatee, galgaluma san hin qulqullooma.

²⁰ «Nami qulqulluu hin te'in ammoo, yoo ifi hin qulqulleessin, addee woyyittii tiyya waan batteesseef, kolbaa keessaa bawuu ti; bisaan ittiin qulqulloomiisaa waan itti hin fiffixaminiif inni qulqulluu'uu moti.

²¹ Kun seera haga bara baraa isaaniif te'uu ti; nami bisaan ittiin qulqulloomiisaa itti fiffixame woyaa ifi dhiqatuu ti; nami bisaan itti qulqulloomiisaa tuqe marti haga galgalaatitti qulqulluu'uu moti.

²² Wonni nami qulqulluu hin te'in tuqe marti qulqulluu'uu moti; nami waan qulqulluu hin te'in san tuqelle haga galgalaatitti qulqulluu'uu moti» jedhe.

20

Bisaan Rassaa Keessaa Madde (Bay. 17:1-7)

¹ Ji'a tokkeesso'oo keessa kolbaan Israa'elii duudiin gara goomolee Ziinii dhuttee Qaadeshitti qubatte. Achitti Miiryaam duutee awwaalante.

² Addee san bisaan waan hin jirreef, Muuse'ee fi Aaron mormiisaaf, kolbaan wolitti qabante.

³ Kolbaan Muuse'ee fi Aaron loltee, «Yennaa obboleeyyan teenna Mootii Waan Maraa duratti dhumatanu nuutille adoo dhumannee jiraannee!

⁴ Isin maaf kolbaa Mootii Waan Maraa as goomolee tana keessa nu fiddane? Nuutille, horiin keennalle akka asitti dhumannuufii motii ree?

⁵ Biyya Gibxi'ii keessaa nu baattanee addee wonni tokko itti hin lanne maaf nu fiddane? Addee tana midhaan, harruun, woyniin, midhaan muka rumaanii hin jiru; bisaan unanuuyyuu hin jiru» jedhane.

⁶ Achiin duuba Muuse'ee fi Aaron kolbaa irraa hiiqanee gara seensuma Dunkaanii Woldeenna'aa dhaqanee, fuulaan lafatti gad gombifamanee, ulfinni Mootii Waan Maraalle isaanitti mudhate.

⁷ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

⁸ «Ulee teetii fudhadhuutii atii fi obboleessi keeti Aaron wolde'a wolitti qaba'a; achitti isaan mara duratti rassa'atti dubbadha'a; rassaa san keessaa bisaan hin burqa. Akkanaati rassa keessaa kolba'aaf bisaan baachee, isaanii fi horiille hin unan» jedhe.

⁹ Maarre Muuseen akkuma Mootiin Waan Maraa isa ajaje dhaqee, ulee fuula Mootii Waan Maraa duraa fudhate.

¹⁰ Muuse'ee fi Aaron rassaa duratti wolde'a wolitti qabane, Muuseen kolba'aan, «Isin worri jallaameyyiin, dhaqaa'a! Nuuti rassaa kana keessaa bisaan isiniif baanyaa ree?» jedhe.

¹¹ Achiin duuba Muuseen harka ifi ol kaasee, ulee ifitiin yennaa lama rassaa san dhowe; bisaan keessaa lola'ee, kolba'aa fi horiin isaaniille unane.

¹² Mootiin Waan Maraa ammoo Muuse'ee fi Aaroniin, «Israa'eloota duratti ana woyyicha gootanee ulfeessiisaaf, natti waan hin addatiniif, lafa ani isaanii kennetti isaan hin galchitanu» jedhe.

¹³ Addeen Israa'elooti Mootii Waan Maraatiin morminaan, Mootiin Waan Maraa woyyummaa ifii isaanitti mudhise addee bisaan Mariibaa* ti.

Mootiin Edoomii Israa'el Dabarruu Dhoogge

¹⁴ Muuseen Qaadeshi irraa gara mootii Edoomii ergantootaa ergee, «Obboleessi keeti Israa'el, «Rakkinna nu irra dhaqqabe mara hin beetta;

¹⁵ abbootiin teenna ta durii gara biyya Gibxi'ii gad bu'anee, nuutille bara hedduu achi leene. Worri biyya Gibxi'ii abbootii teennaa fi nu'ulle cunqursanee,

¹⁶ yennaa nuuti gara Mootii Waan Maraa iyyine ammoo, inni iyya teenna dhage'ee ergamaa ergee biyya Gibxi'ii keessaa nu baase. Amma tuuti meessaa lafa teetii, qachaa Qaadeshi jirra.

¹⁷ Maganne'ee lafa teeti keessa akka dabarru nuu eeyyami. Nuuti fichaa nama tokkoo yookiin oorruu woynii nama tokkoolle keessa hin baanu, baleessa tokkole keessaa bisaan hin unnu; haga lafa teeti keessa dabarrutti karaa guddaa mootichaa irraa asii fi achi middaa fi bitaa adoo hin gorin hin ideenna» jedha'aa itti hima'a» jedhe.

¹⁸ Mootiin Edoomii deebisee, «Nuuti akka isin biyya teenna keessa dabartanu hin eeyyannu! Dabariisaaf yoo wodhaantane, shallaaga'aan baanee isin lolla» jedhe.

¹⁹ Israa'elooti deebisane, «Nuuti karaa guddaa irraa hin gorru, nuutille yookiin horiin keennalle yoo bisaan keessan une hin kaffalla; nuuti miila qofaan keessa dabarra malee, waan dhibii womaa hin goonu» jedhane.

²⁰ Mootiin Edoomii ammalle deebisee, «Isin as keessa hin dabartanu» jedhe; achiin duuba isaan loliisaaf, loltoota baca'aa fi hunnaameyyii woliin baye.

²¹ Mootiin Edoomii worra Israa'elootaa lafa ifii keessa dabariisa waan dhooggeef, Israa'elooti irraa goranee karaa dhibii deemane.

Du'a Aaronii

²² Kolbaan Israa'elii duudiin Qaadeshi kaatee gara gaara Hoorii dhaxxe.

²³ Gaara Hoorii ka meessaa lafa Edoomiititti, Mootiin Waan Maraa Muuse'ee fi Aaroniin,

²⁴ «Aaron hin du'a; isin lamaanuu bisaan Mariiba'aa biratti diddane seera kiyaa irratti waan kaataneef, inni gara lafa ani Israa'elootaaf kennetti hin galu.

²⁵ Aaronii fi ilma isaa Ele'azaar fuudhiitii gaara Hooriititti ol bayi;

²⁶ achitti woyaa Aaronii hayyicha gudda'aa ta hayyumma'aa irraa baasiitii ilma isaa Ele'azaaritti uffisi. Aaron achitti hin du'a» jedhe.

²⁷ Muuseen akkuma Mootiin Waan Maraa ajaje godhe; isaan kolbaan duudiin adoo ilaaltuu gara gaara Hoorii ol bayane.

²⁸ Muuseen woyaa Aaronii ta hayyumma'aa irraa baasee ilma isaa Ele'azaaritti uffise. Aaron achitti qaccee gaaraa irratti du'e. Achiin duuba Muuse'ee fi Ele'azaar gara irraa gad bu'ane.

²⁹ Kolbaan duudiin Aaron akka du'e yennaa dhageette, Israa'elooti martinu guyyaa soddoma isaaf bowane.

21

Kana'aanoti Injifatamane

* **20:13** Mariibaa: Yaadannoo Bay. 17:7 irratti kenname ilaali.

¹ Mootichi Araadii nami biyya Kana'aanotaa, ka Negeb* keessa le'u, Israa'elooti karaa Ataariim geessuun dhufiisatti akka jiranu yennaa dhage'e, isaan lolee, isaan keessaa garii booji'e.

² Achiin duuba Israa'elooti, «Ati yoo kolbaa tana harka keennatti dabarsiitee kennite, nuuti qachoota isaanii ijjumaa hin balleessina» jedhanee Mootii Waan maraatiif waadaa galane.

³ Mootiin Waan Maraa qoonqoo Israa'elootaa dhage'ee, worra Kana'aanotaa harka isaaniititti dabarsee kenne; Israa'elootille isaanii fi qachoota isaaniille ijjumaa balleessanee, maqaan addee sanii, «Hormaa†» jedhamee moggaasane.

Bofa Sageettuu Irraa Hujame

⁴ Israa'elooti lafa Edoomii irra maranee dabariisaaf, gaara Hooriitii ka'anee karaa abbaayaa diintuu geessu deemane; kolbaan ammoo karaa irratti ossa fixattee,

⁵ Waaqaa fi Muusee irratti gunguntee, «Goomolee tana keessatti akka duunuuf, isin biyya Gibxi'ii keessaa maaf nu baattane? Sagaleen hin jirtu! Bisaan hin jiru! Nuuti sagalee womaa hin baane tana jibbineera» jette.

⁶ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa dhudhuufaa odduu kolba'aatitti ergee, Israa'elooti hedduun dhudhuufa'an iddamanee dhumatane.

⁷ Kolbaan gara Muuse'ee dhuttee, «Nuuti Mootii Waan Maraatiif fi si'i irralle'etti kaanee dubbannee yakkiineerra; dhudhuufaa kana akka nu irraa fageessuuf, gara Mootii Waan Maraa nu'uuf daadimadhu» jette. Maarre Muuseen kolba'aaf daadimate.

⁸ Mootiin Waan Maraalle Muuse'een, «Dhudhuufaa sageettu'uu tolchiitii utuba'atti fannis; nami dhudhuufaan idde gara isaa yoo ilaale hin fayya» jedhe.

⁹ Maarre Muuseen dhudhuufaa sageettu'uu hujee dongora'atti fannise; nami dhudhuufaan idde martinuu, gara dhudhuufaa sageettuu irraa hujame sanii yennaa ilaale fayye.

Ideensa Gara Mo'aabii

¹⁰ Israa'elooti addee sanii ka'anee Obooti qubatane.

¹¹ Isaan Obootii ka'anee, lafa Mo'aabotaatiin gara aduun baatu, goomolee keessa Iyye-Abaariim qubatane.

¹² Achii ka'anee dhooqa Zeredii keessa qubatane.

¹³ Achille'ee ka'anee goomolee haga lafa Amoorotaatitti badhattu keessa laga Aarnoniitiin gama qubatane; lagi Aarnonii Mo'aabotaa fi Amoorota odduu meessaa irra jira.

¹⁴ Tanaaf Kitaaba lolaa ka Mootii Waan Maraa keessatti, «Waaheebii Sufaa keessaatitti, dhooqa laga Aarnoniititti,

¹⁵ goodda gara dhooqa sanii ta haga qachaa Aarii ka meessaa Mo'aabiititti» jedhame.

¹⁶ Isaan achii ka'anee gara Berii, lafa bisaan boollaa addee Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Kolbaa wolitti qabi; anille bisaan isaanii hin kenna» jedhee, dhaqane.

¹⁷ Achiin duuba kolbaan Israa'elii, «Ee boolla bisaanii, bisaan burqi! Nuutille faaru'uun nageya si fuuna!

¹⁸ Boolla bisaanii ta bulchitootii fi qondaaltoti kolba'aa

* **21:1** *Negeb*: Yaadannoo Dad. 24:62 irratti kenname ilaali. *badiisa* jechu'u.

† **21:3** *Hormaa*: Afaan Ibrootaatiin

ulee bokku'uutii fi ulee ifitiin
gad qotane» jedhanee faaruu tana faarsane.

Achiin duuba goomolee sanii ka'ane gara Maataanaa deemane;

¹⁹ Maataanaalle'ee ka'ane gara Naahaalii'elii, Naahaalii'elille'ee ka'ane gara Baamotii,

²⁰ Baamotille'ee ka'ane gara dhooqa goomolee lafa Mo'aabotaa keessaa, ta qaccee gaara Phiisga'aa irraa gad mudhattuu dhaqane.

Sihoonii Fi Oog Injifatamane

(Kes. 2:26–3:11)

²¹ Achiin duuba Israa'elooti mooticha Amoorotaa Sihoonitti nama erganee,

²² «Biyya teeti keessa nu dabarsi. Nuuti biyya teeti keessa haga dabarutti karaa guddaa mootichaa irra ideenna malee, gara fichaa tokkoolle yookiin gara oorruu woynii takkaalle hin gorru; baleessa tokkolle keessaa bisaan hin unnu» jedhane.

²³ Mootichi Sihoon ammoo kolbaan Israa'elii akka lafa isaa keessa dabartu hin eeyyanne. Inni loltoota ifii wolitti qabatee, Israa'eloota loliisaaf gara goomole'ee dhaqee, Yaahazitti Israa'eloota lole.

²⁴ Te'uu malee, Israa'elooti isa ijjeesane, lafa isaa laga Aarnoniitii haga laga Yaaboqiititti, haga meessaa Amoonotaatitti qabatane; meessaan Amoonotaa guddoo waan eegameeruuf laga Yaaboqii hin dabarre.

²⁵ Maarre Israa'elooti qachoota Amoorotaa Heshiboonii fi qachoota adaala isaa mara qabatane, keessatti qabatane.

²⁶ Heshiboon qachaa guddicha mootii Amoorotaa Sihoonii ti; inni dur mooticha Mo'aabii ka durii lolee, lafa isaa haga laga Aarnoniititti irraa fudhateera.

²⁷ Tanaaf worri weeddisu,
«Gara Heshiboonii kowa'a!
Qachaan kun deebi'ee ijaaramuu ti;
qachaan guddichi Sihoonii adde'etti deebi'uu ti!

²⁸ Ibiddi Heshiboon keessaa ka'ee,
bobeenni qachaa Sihoonii keessaa bobe'ee,
qachaa Aarii ka Mo'aab keessaa luxub godhee,
goottolee koobota Aarnonii gube.

²⁹ Ee Mo'aab, si'iif aanne'e!
Ee kolbaa Kemoshii isin baddane!
Kemoshi[‡] ilmaan ifii akka baqattu,
ijoollee ifii ta durraa akka booji'antu,
mooticha Amoorotaa Sihoonitti dabarsee kenneera.

³⁰ Nuuti ammoo isaan garagalchine;
Heshiboon haga Diiboniititti badde;
Heshiboonii haga Diiboniititti, haga Nofaatitti,
haga Madabaatitti isaan balleessine» jedhane.

³¹ Maarre Israa'elooti lafa Amoorotaa keessatti qabatane.

³² Muuseen qachaa Yaazerii akka dooyanu worra dooyu ergeen duuba, Israa'elooti Yaazerii fi qachoota adaala sanii qabatane Amoorota achi le'anuu ari'ane baasane.

³³ Achiin duuba Israa'elooti deebi'ane, karaa Baashaan geessu gula ol bayane; mootichi Baashaanii Oog Edraayitti isaan loliisaaf loltoota ifii duudii waliin duula baye.

[‡] 21:29 Kemoshi: Waaqa Amooroti waaqonfattu.

³⁴ Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Ati isa hin sodaatin; ani isaa fi loltoota isaa, lafa isaalle harka keetitti dabarsee hin kenna. Mootii Amoorotaa Sihoon, ka qachaa Heshiboonii keessa tee'ee bulche akkuma goote, Oogille akkasuma godhi» jedhe.

³⁵ Maarre Israa'elooti Oog, ilmaan isaatii fi loltoota isaa duudii nama tokkolle adoo hin hamburin ijjeesanee, lafa isaalle qabatane.

22

Mootiin Mo'aabii Balaqi Bala'aam Waammate

¹ Achiin duuba Israa'elooti gara dirree Mo'aabii ka'anee deemanee, laga Yordanosii irraa gara aduun baatuun, fuullee Yeriko'oo qubatane.

² Mootiin Mo'aabii, ilmi Ziphoorii Balaqi, waan Israa'elooti Amoorota godhane mara dhagge.

³ Israa'elooti kolbaa hedduu waan teeteef, Mo'aaboti akka malee sodaatte. Dhugumaan, namooti Mo'aabii Israa'eloota sodaatanee sheephisane.

⁴ Mo'aaboti maanguddoo Miidiyaaniitiin, «Akkuma qotiyyoon marra diida keessaa muxuqqi gootu, gumiin tun waan adaala keenna jiru mara muxuqqi hin gooti» jedhane; tanaaf ilmi Siphoorii Balaqi, ka yennaa san mootii Mo'aabii te'eeru,

⁵ ilma Be'orii Bala'aam ka qachaa Phetorii qarqara laga Efraaxiisii lafa dhaloota ifii jiru waansisiisaaf nama itti ergee, «Kolbaan takka biyya Gibxi'iitii dhuttee, lafa duudii guutteerti. Isaan dhikoo tiyya qabataneeran.

⁶ Isaan na caalaa hunnaameyyi'i; tanaaf koyiitii isaan naa abaari; akka wotoo ani isaan injifadhee biyya keessaa ari'ee isaan baasuu hin dande'a fa te'a. Nami ati eebbifte eebbifamaa, nami ati arbaartelle abaaramaa akka te'u ani hin beeka» jedhe.

⁷ Maarre maanguddooti Mo'aabiitii fi Miidiyaanii beese kaffaltii moru'uu qabatane, gara Bala'aamii dhaqanee, ergaa Balaqii itti himane.

⁸ Bala'aam isaaniin, «Edana as bula'a; anille boru waan Mootiin Waan Maraa natti hime isinitti hin hima» jedheen. Maarre maanguddooti Mo'aabotaa Bala'aam bira bulte.

⁹ Waaqi gara Bala'aamii dhufee, «Jarri si woliin jirtu tun eennu fa'a?» jedhee gaafate.

¹⁰ Bala'aam deebisee, Waaqaan, «Mootiin Mo'aabii, ilmi Ziphoorii Balaqi ergantoota tana gara kiyya ergee,

¹¹ «Kolbaan takka biyya Gibxi'iitii dhuttee lafa duudii guutteerti; amma koyiitii isaan naaf abaari; achiin duuba ani akka wotoo isaan lolee biyya keessaa ari'ee isaan baasuu hin dande'a fa te'a» anaan jedhe» jedhe.

¹² Waaqi ammoo Bala'aamiin, «Isaan woliin hin dhaqin. Kolbaan sun ta eebbifante waan teeteef, ati isaan hin abaarin» jedhe.

¹³ Bala'aam boruuyyaa ganama ka'ee, qondaaltota Balaqi erge saniin, «Akka ani isin woliin dhaqu, Mootiin Waan Maraa waan na dhooggeef, gara mana keessanii gala'a» jedhe.

¹⁴ Maarre qondaaltoti worra Mo'aabotaa gara Balaqii dhaqanee, «Bala'aam nu woliin dhufuu dide» jedhaneen.

¹⁵ Balaqi ammalle qondaaltota dhibii ka qondaaltota duraa san caalaa heddatanuu fi worra ulfinna qabanu Bala'aamitti erge.

¹⁶ Isaan gara Bala'aamii dhaqanee, «Ilmi Ziphoorii Balaqi, «Gara kiyya dhufiisa irraa wonni tokkolle si hin dhooggin!

¹⁷ Sababille ani ulfinna guddaa si'iif hin kenna; waan ati jette maralle hin godha. Koyiitii, kolbaa tana naaf abaari» siin jedheera» jedhaneen.

¹⁸ Bala'aam ammoo deebisee isaaniin, «Bala'aaqii mana ifii ka mootumma'aa ka meeti'ii fi worqi'iin guutame san yoo naaf kennelle, ani ajaja Waaqa kiyya Mootii Waan Maraa irra dabaree waan guddoo yookiin waan diqqoo hujuu hin dande'u.

¹⁹ Ammalle waan Mootiin Waan Maraa dabalee natti dubbatu akka beekuuf, worri duraa sun akkuma as bulane, isinille edana as bula'a» jedhe.

²⁰ Halkan san, Waaqi gara Bala'aamii dhufee, «Jarri tun si waamiisaaf yoo dhufaneeranu teete, ka'ii isaan woliin deemi; ammoo waan ani sitti himu qofa huji» jedheen.

²¹ Maarre Bala'aam ganama ka'ee, harree ifii fe'atee, qondaaltota worra Mo'aabii woliin deeme.

²² Yennaa Bala'aam deeme, Waaqi ammoo guddoo itti aare; ergamaan Mootii Waan Maraa isa mormiisaaf karaa keessa dhaabbate. Yennaa san Bala'aam harree irra tee'eeraayyu; tajaajiltooti isaa lamaan isa woliin jirani-iiyyu.

²³ Harreen sun ergamaan Mootii Waan Maraa shallaagaa buqqifatee, harkatti qabatee, karaa keessa dhaabbatuun yennaa dhaggite, karaa irraa ficha'atti gorte; Bala'aamille kara'atti deebisiisaaf dhowe.

²⁴ Achiin duuba ergamaan Mootii Waan Maraa karaa dhiphaa addee oorruu woyni'ii lamaan ka dalleenni dhaka'aa gara lamaaniinuu jiru keessa dhaabbate.

²⁵ Harreen sun ergamaa Mootii Waan Maraa yennaa dhaggite, gara dalleya dhaka'aa maxxantee, miila Bala'aamiille dalleya dhaka'aatitti maxxansite. Maarre inni ammalle isii dhowe.

²⁶ Ergamaan Mootii Waan Maraa gara duraa deemee, addee dhiphoo, middatti yookiin bita'atti garagaliisaaf karaan hin jirre dhaabbate.

²⁷ Harreen sun ergamaa Mootii Waan Maraa yennaa dhaggite, Bala'aam duraa gad ciitte; Bala'aamille guddoo aaree, ulee ifitiin isii dhowe.

²⁸ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa afaan harree sanii banee, harreen sun Bala'aamiin, «Ani maan si goonaan, ati yennaa sad na dhootte?» jette.

²⁹ Bala'aam harree saniin, «Ati waan naan taphatteef ree! Ani adoo shallaagaa harkaa qabaadhee, ammuma silaa si ijjeesaayyu!» jedhe.

³⁰ Harreen sun deebittee, Bala'aamiin, «Ani harree teeti ta ati yennaa mara, haga guyyaa adhaatitti irra teettuu motii? Ani akkas sitti te'ee beekaa?» jette.

Innille, «Waawwo'o» jedheen.

³¹ Achiin duuba Mootii Waan Maraa ila Bala'aamii banee, ergamaan Mootii Waan Maraa shallaagaa buqqifate san harkatti qabatee, karaa keessa dhaabbatuun dhagge; Bala'aam fuula ifitiin lafatti gad gombifame.

³² Ergamaan Mootii Waan Maraa, «Ati maaf harree teeti yennaa sad akkana dhootte? Ati karaa dabaa deemiisatti waan jirtuuf, ani si mormiisaaf dhufeera.

³³ «Harreen teeti na dhaggitee, yennaa sad na irraa gorte. Adoo isiin na irraa goruu dhaddee, ani silaa dhugumaan, amma si ijjeesee isii lakkiseeraayyu» jedheen.

³⁴ Bala'aam, ergamaa Mootii Waan Maraatiin, «Ani cubbuu hujeera; akka ati anaan mormiisaaf, karaa keessa dhaabbatteertu hin beenne. Amma deemiisi kiyya kun yoo si gammachiisin hin deebi'a» jedhe.

³⁵ Ergamaan Mootii Waan Maraa, Bala'aamiin, «Jara tana woliin deemi; ammoo waan ani sitti himu qofa dubbadhu» jedhe. Maarre Bala'aam qondaaltota Bala'aamii woliin deeme.

Bala'aaqii, Bala'aam Gammadaan Fudhate

³⁶ Bala'aaqi akka Bala'aam dhufiisatti jiru yennaa dhage'e, isa fudhatiisaaf gara qachaa Aarii ka Mo'aab keessaa, ka bisaan Aaronii bira irga lafa isaa jiruu dhage.

³⁷ Bala'aaqi, Bala'aamiin, «Ani akka ati ariifattee dhuttu gara keeti ergeer-aayyuu motii? Ati maaf gara kiyya dhufuu dhadde? Ani ulfinna sii kennuu hin dande'uu?» jedhe.

³⁸ Bala'aam deebisee, «Kunoo, amma gara keeti dhufeera; ammoo waan Waaqi akka dubbadhu natti hime qofa dubbadha malee, waan tokkolle hin dubbadhu» jedhe.

³⁹ Achiin duuba Bala'aam Bala'aaqi woliin gara qachaa Kiriyyat-Huzotii dhage.

⁴⁰ Bala'aaqi loonii fi hoolota ciincaa dhikeessee, foon isaanii irraa garii Bala'aamii fi qondaaltota isa woliin jiranuuf kenne.

⁴¹ Bala'aaqi boruuyyaa ganama Bala'aam fuudhee gara Baamot-Ba'aaliititti ol baase; inni achi dhaabbatee kolbaa Israa'elii worra cinaa quttumaa jiranu dhagge.

23

Raaga Bala'aamii Ka Qaraa

¹ Bala'aam, Bala'aaqiin, «Addee ciinca'aa torba asitti naaf ijaari; korommii torbaa fi korbeeyyii hoole'ee torba naaf qopheessi» jedhe.

² Bala'aaqi akkuma Bala'aam jedhe godhe; Bala'aaqi fi Bala'aamille addee ciinca'aa tokko tokko irrattuu korma tokkoo fi korbeessa hoole'ee tokko ciinca'aaf dhikeessane.

³ Achiin duuba Bala'aam, Bala'aaqiin, «Ani yennaa achi deemuu, ati ciincaa keeti ka gubamu bira as turi; akka wotoo Mootiin Waan Maraa natti mudhatiisaaf hin dhufa fa te'a. Waan inni natti mudhisu mara ani sitti hin hima» jedhe. Maarre inni gara kooba godduu takkaa dhage.

⁴ Achiin duuba Waaqille Bala'aamitti mudhate; Bala'aamille isaan, «Ani addee ciinca'aa torba qopheessee, tokko tokkooyyuu irratti korma tokkoo fi korbeessa hoole'ee tokko dhikeesseera» jedhe.

⁵ Mootiin Waan Maraa waan Bala'aam dubbatu afaan keessa keyeefii, «Gara Bala'aaqi deebi'itii ergaa tana itti himi» jedheen.

⁶ Maarre inni gara Bala'aaqi deebi'ee, inni qondaaltota Mo'aabii mara woliin ciincaa ifii ka gubamu bira dhaabbatuun dhagge.

⁷ Achiin duuba Bala'aam raagee,
«Mootiin Mo'aabii Bala'aaqi
gaarota gara aduun baatuu irraa
biyya Aaramii* na fidee,
Bala'aaqi, «Koyiitii, kolbaa Yaaqoobii naa abaari;
koyiitii, kolbaa Israa'elii badin!» jedhe.

⁸ Ka Waaqi hin abaarin ani attam abaara?
Ka Mootiin Waan maraa hin badinin
ani attam badina?

⁹ Ani gaara rassa'aa irraa isaan dhagga;
kooba irraa isaan ilaala;
isaan kolbaa qofuu leetu,
ta gosa biyya adda addaalle'etti
ifi hin laakkonne dhagga!

¹⁰ Sanyii Yaaqoobii ta akka biyye'ee eentu laakkowa?
Yookiin gamisuma gamisa laakkossa Israa'eliille

* 23:7 Aaram: Amma Sooriyaa jedhanti.

eentu laakkowuu dande'a?

Ani du'a balcha'aa du'uu ti;

muummeen tiyyalle

akka muummee isaanii teetuu ti!» jedhe.

¹¹ Balaqi, Bala'aamiin, «Wonni ati na irratti hujje kun maan? Ani diinota kiyya akka naa abaartuuf si fide, ati ammoo isaan eebbitte malee, womaa isaan hin goone» jedhe.

¹² Inni deebisee, «Waan Mootiin Waan Maraa akka ani dubbadhuuf natti hime dubbatiisa qabaa motii ree?» jedhe.

Raaga Bala'aamii Ka Lammeesso'oo

¹³ Achiin duuba Balaqi, Bala'aamiin, «Gara addee dhibi'ii ta isaan dhagguu dandeettu waliin dhandhaatii koy; isaan keessaa worra diqqaa qofa malee, mara isaanii hin dhaggitu. Achi dhaabbadhuutii isaan naaf abaari» jedhe.

¹⁴ Maarre inni mataa gaara Phiisga'aa irra, gara diida Zofimii isa geesse. Achitti addee ciinca'aa torba ijaaree, tokko tokko irrattuu korma tokkoo fi korbeessa hoole'ee tokko ciincaa dhikeesse.

¹⁵ Bala'aam, Balaqiin, «Ani achitti Mootii Waan Maraatiin wol dhaggiisaaf yennaa deemu, ati ciincaa keeti ka gubamu bira as turi» jedhe.

¹⁶ Mootiin Waan Maraa Bala'aamitti mudhatee, ergaa inni dubbatu itti himee, «Gara Balaqi deebi'itii ergaa tana itti himi» jedheen.

¹⁷ Maarre inni deebi'ee, qondaaltota Mo'aabii waliin ciincaa ifii bira dhaabbatuun isa dhagge. Balaqi, «Mootiin Waan Maraa maan jedhe?» jedhee Bala'aam gaafate.

¹⁸ Bala'aamille ergaa raagaa,
«Balaqi, ka'iitii caqasi!

Ee, ilma Ziphoorii na dhage'i!

¹⁹ Waaqi ilma namaatii motii, inni hin hollu;
yookiin akka namaa yaada ifii hin jijjiiratu.

Inni waadaa gale hin muummessa;
waan dubbatelle hin guuta.

²⁰ Kunoo, ani eebbisiisaaf ajajameera;
inni eebbiseera; ani eebba isaa jijjiiree hin dande'u.

²¹ Kolbaa Yaaqoobii keessatti wonni hantuun,
Israa'el keessatti rakkoon hin dhagganne.
Mootiin Waan Maraa, Waaqi isaan waliin jira;
isaan mootii ifii leellisan.

²² Waaqi biyya Gibxi'itii isaan baase;
inni isaaniif akka gaafa gafarsaa ti.

²³ Ilmaan Yaaqoobii irratti xanoon,
Israa'el irrattille moruun hin hujju.

Amma waan Yaaqoobiitii fi Israa'elii,
«Waan Waaqi godhe dhagga'a!» hin jedhama.

²⁴ Kolbaan Israa'elii
akka neenqa dhala'aa ol kaati;
isaan akka neenqa waan adansee qabate
haga nyaatutti, dhiigalle haga unutti
ciisa dhabee ol ka'uu ti» jedhe.

²⁵ Achiin duuba Balaqi, Bala'aamiin, «Ati isaan eega hin abaarin hin eebbisinille'e!» jedhe.

²⁶ Bala'aam deebisee Balaqiin, «Ani waan Mootiin Waan Maraa jedhe qofa akka godhu, sitti himee hin jiruu?» jedhe.

Ergaa Bala'aamii Ta Sadeesso'oo

²⁷ Achiin duuba Bala'aaqi, Bala'aamiin, «Amma addee dhibii si geessaa koy; achi dhaabbattee akka ati isaan naaf abaartu Waaqi hin jaalata fa te'a» jedhe.

²⁸ Maarre Bala'aaqi, Bala'aam gara qaccee gaara Phe'orii ka irra dhaabbatane lafa goomole'ee dhagganu geesse.

²⁹ Bala'aam, Bala'aaqiin, «Asitti addee ciinca'aa torba naaf ijaariitii, korommii torbaa fi korbeeyyii hoole'ee torba naaf qopheessi» jedhe.

³⁰ Maarre Bala'aaqi akkuma Bala'aam jedhe godhe; addee ciinca'aa tokko tokko irrattuu korma tokkoo fi korbeessa hoole'ee tokko ciincaa dhikeesse.

24

¹ Bala'aam Israa'eloota eebbisuun Mootii Waan Maraa akka gammachiitte yennaa dhagge, inni fuula ifii gara goomole'ee deebifate malee, akka yennaa dhibi'ii waan ittiin moru barbaadatiisa hin dhandhe.

² Bala'aam ol ilaalee, worri Israa'elii gosa gosaan qubataneeranuun yennaa dhagge, Ayyaanni Waaqaa isa irratti bu'ee,

³ ergaa dubbattee,

«Ergaan Bala'aamii ilma Be'orii,

ergaan nama ilti isaa banantee,

⁴ ergaan nama jecha Waaqaa dhage'uu,

ka mudhii ka waan mara dande'uu dhagguu,

ka isa duratti gad jigeeruun,

ilti isaa banantee kana:

⁵ «Ee Yaaqoob, dunkaanoti teeti,

ee Israa'el quttumi keeti,

attam attam dansa'a!

⁶ «Isaan akka meexxi banqaaxxuu,

akka oorruu bisaan biraa ti;

isaan akka hargiisa

Mootiin Waan Maraa dhaabee ti;

isaan akka hindheensa bisaan biraa ti.

⁷ «Sakkeelloo isaanii keessaa

bisaan hin yaa'a;

sanyiin midhaan isaanii

bisaan guddaa hin dhaggatti.

«Mootiin isaanii mootii Agaagii hin caala;

mootummaan isaaniille hin leellifanti.

⁸ «Waaqi biyya Gibxi'iitii isaan baase,

inni isaaniif akka gaafa gafarsaa ti.

Inni gosa biyya adda addaa

diinota isaanii hin kukkuta;

lafee isaaniille hin butucha;

daaya ifitiin woraanee isaan fullaasa.

⁹ «Isaan irkatanee,

akka neenqa dhala'aatii

fi neenqa kormaa gad ciisane;

isaan kaasiisaaf ka itti guulu eennu?

«Worri si eebbisu eebbifamuu ti!

Worri si abaaru abaaramuu ti!» jedhe.

¹⁰ Achiin duuba Bala'aaqi, Bala'aamitti aaree bobee'ee, harka dhowee, «Ani akka ati diinota kiyya abaartuuf si waame; ati ammoo kunoo yennaa sad isaan eebbitte.

¹¹ Amma ariifadhuu gara mana keetii deemi! Ani silaa, «Gatii dansaa si'iif hin kaffala» jedheeraayyu. Mootiin Waan Maraa ammoo gatii dhaggatiisa si dhoogge» jedhe.

¹² Bala'aamille deebisee, Balaqaan, «Ani ergantoota teeti ta ati natti er-gitetti himee,

¹³ «Balaqa mana ifii ka mootumma'aa ka meeti'ii fi worqi'iin guutame san yoo naaf kennelle, waan Mootiin Waan Maraa natti dubbate qofa dubbadha male, jecha isaa irra dabaree, fedha kiyyaan waan dansaa yookiin waan badduu godhiisaaf hin dande'u» hin jenneeyyuu?

¹⁴ Maarre amma ani gara kolbaa tiyyaa deebi'ee deemaara; gara duraa ammoo waan kolbaan Israa'elii tun kolbaa teeti irratti godhu'uuf jirtu koy sitti hima» jedhe.

Ergaa Bala'aamii Ta arfeesso'oo

¹⁵ Achiin duuba ergaa dubbatee,

«Ergaan Bala'aamii ilma Be'orii,
ergaan nama ilti isaa banantee,

¹⁶ Ergaan nama jecha Waaqaa dhage'uu,
ka beekkumsa Ol Aana'aa qabuu,
ka mudhii ka waan mara dande'uu dhagguu,
ka isa duratti gad jigeeruun,
ilti isaa banantee kana:

¹⁷ «Ani isa dhagga, ammoo ammaa moti;
ani isa ilaala, ammoo dhiko'ottii moti.
Bakalchi Yaaqoob keessaa hin baya;
Israa'el keessaa
uleen bokkuu mootumma'aa hin ka'a.
Sooreyyii worra Mo'aabii hin butucha;
buqqii mataa ilmaan Sheetii mara hin caccassa.

¹⁸ Edoom hin qabatanti;
Se'iir ta diina isaa teetelle ta isaa hin teeti;
Israa'el ammoo jabaataatuma hin ideenti.

¹⁹ Sanyii Yaaqoobii keessaa
bulchaan tokko hin dhufa;
worra qachaa guddicha keessatti hafelle
hin balleessa» jedhe.

²⁰ Achiin duuba Bala'aam
gara worra Amaaleqii ilaalee,
ergaa ifii dubbatee,

«Gosa biyya adda addaa oddu'utti
worri Amaaleqii ka qaraa te'ee ture,
muummeen isaanii ammoo
badii bara baraa ti» jedhe.

²¹ Achiin duuba inni gara worra Qenootaa ilaalee,
ergaa ifii dubbatee,

«Addeen quttuma teessanii addachiittu'u;
mandheen teessan
rassaa keessatti ijaaranteerti.

²² Ammoo yennaa worri Asoorii isin booji'e,
isin worri Qenootaa hin baddan» jedhe.

²³ Ammalle inni ergaa ifii dubbatee,
«Anne'e, yennaa Waaqi tana godhu

eentu jiraata ree?*

²⁴ Qarqara Kitiimiitii ammoo
hobolooti gugurdoon hin dhufan;
isaan Asoorii fi Ebeer hin qabatan;
isaanille ifiifuu
haga bara baraa hin badan» jedhe.

²⁵ Achiin duuba Bala'aam ka'ee gara mana ifii deebi'e; Balaagille karaa ifii deeme.

25

Worri Mo'aabii Israa'eloota Dokonkorse

¹ Israa'elooti Shiixiimitti yennaa qubataneeranu, dhiirti isaanii dubartoota Mo'aabotaa woliin sagaagalane.

² Dubartooti sun worra dhiiraa san gara ciincaa waaqota ifiititti waamane; isaanille ciincaa san nyaatanee, waaqota isaaniitiif sagadane.

³ Tanaaf Israa'elooti Ba'aal Phe'or waaqonfatiisa jalqaddee, Mootiin Waan Maraa guddoo isaanitti aare.

⁴ Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Aariin tiyya guddoon Israa'eloota irraa akka deebitu, ati sooreyyii kolbaa tanaa mara fuudhiitii, ila guyya'aatiin fuula kiyya duratti fannisi» jedhe.

⁵ Maarre Muuseen abbootii mura'aa ta Israa'elootaatiin, «Tokko tokkoon keessan nama keessan ka Ba'aal Phe'or waaqonfatiisa jalqabe ijjeesaa» jedhe.

⁶ Achiin duuba Muuse'ee fi wolde'i kolbaa Israa'elii duudiin Dunkaanii Woldeenna'aa dura dhaabbatanee adoo isaan bowanuu, Israa'eloota keessaa tokkochi iluma isaanii duratti, dubartii worra miidiyaanii takka fudhatee gara maatii ifi dhufe.

⁷ Akaakoon Aaronii hayyichaa, ilmi Ele'azaarii Fiinehaas yennaa tana dhagge, ka'ee wolde'a keessaa bayee, eboo fudhatee,

⁸ namicha Israa'elicha gula gara dunkaani'ii seenee, eboo darbatee, namichaa fi dubartittiille woraanees isaan lamaanuu wolitti fullaase. Achiin duuba balaan kolbaa Israa'elii irraa dhaabbate.

⁹ Te'uu malee, balaa saniin namoota kuma diddamii afuritti du'e.

¹⁰ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

¹¹ «Kolbaa Israa'elii keessaa akaakoon Aaronii hayyichaa, ilmi Ele'azaarii Fiinehaas marroo tiyyaaf waan hinaafeef, ani hinaaffaa tiyyaan akka isaan hin fixanneef, mufii tiyya isaan irraa deebiseera.

¹² Tanaaf, akka ani Gondooroo tiyya ta nageyaa isa woliin gondooradhu, Fiinehaasitti himi.

¹³ Inni ana Waaqa ifiitiif waan hinaafeef, kolbaa Israa'eliitiifille gumaa cubbu'uu waan kenneef, Gondooroon hayyummaa bara baraa isaaf, isaan duuballe sanyii isaatiif hin teeti» jedhe.

¹⁴ Maqaan namicha Israa'elicha ka dubartittii worra Miidiyaanii woliin ijjeefamee Ziimiirii ilma Saaluwa'aa ti; inni sooreessa fira Shimi'oonii ti.

¹⁵ Maqaan dubartittii worra Miidiyaanii ta ijjeefantee Kozbi; isiin intala Zuurii, ka gosa Miidiyaan keessatti sooreessa fira tokkoo ti.

¹⁶ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

¹⁷ «Worra Miidiyaanii kana akka diinaatitti laakkowa'aatii fixa'a;

* **24:23** Yennaa Waaqi tana godhu eentu jiraata ree: Afaan Ibrootaatiin, «Kolbaan gara kaabaatitti wolitti gabante tun tam?» hiikkaa jettulle hin qaba.

¹⁸wonni tana gootanuuf, isaan Phe'oritti, obboleettii isaanii, ta guyyaa bal-aan Phe'oritti bu'e ijjeefante, intala soorressa isaanii hujii Kozbiitiin sobanee isin miidhaneeran» jedhe.

26

Laakkossa Kolba'aa Ka Lammeesso'oo

¹Bala'aan duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'ee fi Ele'azaarii ilma Aaronii hayyichaatiin,

²«Wolde'a kolbaa Israa'elii duudii keessaa namoota woggaa diddamaatii fi diddamaa olii, ka dhaqanee loluu dande'anuu mara, akka maatii maatii isaaniititti laakkowa'a» jedhe.

³Maarre Muuse'ee fi Ele'azaariin hayyichi fuullee Yeriko'ootitti cinaa laga Yordaanosii dirree Mo'aabii keessatti, kolba'atti dubbatanee,

⁴«Akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajajetti, dhiira woggaa diddamaatii fi diddamaa olii laakkowama'a» jedhane.

Worri Israa'elootaa ka biyya Gibxi'iitii bayane ka asii gad jiranu:

⁵Sanyii Ruubenii ilma angaficha Israa'elii keessaa: Henok, abbaa fira Henookotaa; Faluun, abbaa fira Faluwwotaa;

⁶Hezron, abbaa fira Hezronotaa; Karmi, abbaa fira Karmii'otaa;

⁷laakkossi dhiira firoota Ruubenii kuma afurtamii sadii fi dhibba torbaa fi soddoma.

⁸Ilmi Faluu Eliiyaab;

⁹ilmaan Eliiyaabii: Nemu'el, Daataanii fi Abiiram; Daataanii fi Abiiramiin kun qondaaltota kolba'aa worra Muuse'ee fi Aaroniin mormane. Akkasuma yennaa Qoraahii fi goliin isaa Mootii Waan Maraa irratti finqila kaasane isaan waliin jiraniyyu.

¹⁰Latti banantee Qoraahi waliin isaan liqinsite; goliin Qoraahii yennaa ibiddi bu'ee namoota dhibba lamaa fi shantama fixe san dhumatane. Isaan beessisa ifi eeggachiisaa te'ane.

¹¹Te'uu malee ilmaan Qoraahii hin duune.

¹²Sanyiin Simi'oonii akka fira fira isaaniititti: Nemu'el, abbaa fira Nemu'elootaa ti; Yaamiin, abbaa fira Yaamiinotaa ti; Yaakiin, abbaa fira Yaakiinotaa ti;

¹³Zaara, abbaa fira Zerootaa ti; Shaawul, abbaa fira Shaawulootaa ti;

¹⁴firri Simi'oonotaa kun laakkowamanee, dhiirti kuma diddamii lamaa fi dhibba lama teete.

¹⁵Sanyiin Gaadii akka fira fira isaaniititti: Zefoon, abbaa fira Zefoonotaa ti; Haag, abbaa fira Haagotaa ti; Shun, abbaa fira Shunootaa ti;

¹⁶Ozni, abbaa fira Oznootaa ti; Eri, abbaa fira Erootaa ti;

¹⁷Aarod, abbaa fira Aarodootaa ti; Arii'el, abbaa fira Arii'elootaa ti;

¹⁸firri Gaadotaa kun laakkowamanee, dhiirti kuma afurtamaa fi dhibba shan teete.

¹⁹Ilmaan Yihuda'aa Erii fi Onaan; isaan ammoo lafa Kana'aanii keessatti du'ane.

²⁰Sanyiin Yihuda'aa akka fira fira isaaniititti: Shela, abbaa fira Shelootaa ti; Faares, abbaa fira Faaresootaa ti; Zaara, abbaa fira Zaarotaa ti;

²¹Sanyiin Faaresii: Hezron, abbaa fira Hezronotaa ti; Hamul, abbaa fira Humulootaa ti;

²²firri sanyii Yihuda'aa kun laakkowamanee, dhiirti kuma torbaatamii jaa fi dhibba shan teete.

²³Sanyiin Yisaakorii akka fira fira isaaniititti: Tola, abbaa fira Tolootaa ti; Fuwa, abbaa fira Fuwootaa ti;

²⁴Yaashub, abbaa fira Yaashubootaa ti; Shimroon, abbaa fira Shimroonotaa ti;

²⁵ firri sanyii Yisaakorii kun laakkowamanee, dhiirti kuma jaatamii afurii fi dhibba sad teete.

²⁶ Sanyiin Zebuloonii akka fira fira isaaniititti: Sered, abbaa fira Seredootaa ti; Eloon, abbaa fira Eloonotaa ti; Yaahile'el, abbaa fira Yaahile'elootaa ti;

²⁷ firri sanyii Zebuloonii kun laakkowamanee, dhiirti kuma jaatamaa fi dhibba shan teete.

²⁸ Sanyiin Yoseefii akka fira fira isaaniititti: Minaase'ee fi Efreem.

²⁹ Sanyiin Minaase'ee: Maakiir, abbaa fira Maakirootaa ti; Maakiir abbaa Giil'aadii ti. Giil'aad, abbaa fira Giil'aadotaa ti.

³⁰ Sanyiin Giil'aadii: Yi'ezer, abbaa fira Yi'ezerootaa ti; Helek, abbaa fira Helekootaa ti;

³¹ Asrii'el, abbaa fira Asrii'elootaa ti; Shekem, abbaa fira Shekemootaa ti;

³² Shemiida, abbaa fira Shemiidotaa ti; Hefer, abbaa fira Heferootaa ti;

³³ Zelofehaad ilmi Heferii ijoollee durraa malee, ilmaan dhiiraa hin qabuuyyu; maqaan ijoollee durraa Zelofehaad, Maahilaa, No'aa, Hoglaa, Miilka'aa fi Tiirza'a.

³⁴ Firri sanyii Minaase'ee kun laakkowamanee, dhiirti kuma shantamii lamaa fi dhibba torba teete.

³⁵ Sanyiin Efreemii akka fira fira isaaniititti: Shutela, abbaa fira Shutelootaa ti; Beker, abbaa fira Bekerootaa ti; Tahaan, abbaa fira Tahaanotaa ti;

³⁶ Sanyiin Shutelaa: Eraan, abbaa fira Eraanotaa ti;

³⁷ firri sanyii Efreemii kun laakkowamanee, dhiirti kuma soddomii lamaa fi dhibba shan teete.

Isaan kun akka fira fira isaaniititti sanyii Yoseefii ti.

³⁸ Sanyiin Beniyaaminii akka fira fira isaaniititti: Belaa'i, abbaa fira Belaa'otaa ti; Ashibel, abbaa fira Ashibelootaa ti; Ashiiraam, abbaa fira Ashiiraamotaa ti;

³⁹ Shefufaam, abbaa fira Shefufaamotaa ti; Hufaam, abbaa fira Hufaamotaa ti;

⁴⁰ Sanyiin Belaa'i Aardii fi Na'amaan; Aardi, abbaa fira Aardotaa ti; Na'amaan, abbaa fira Na'aamaanotaa ti.

⁴¹ Firri sanyii Beniyaaminii akka fira fira isaaniititti laakkowamanee, dhiirti kuma afurtamii shanii fi dhibba jaa teete.

⁴² Sanyiin Daanii akka fira fira isaaniititti: Shuhaam, abbaa fira Shuhaamotaa ti; firri sanyii Daanii isaan kana.

⁴³ Isaan marti sanyii Shuhaamotaa ti; laakkossi isaanii, dhiirti kuma jaatamii afurii fi dhibba afuri.

⁴⁴ Sanyiin Asheerii akka fira fira isaaniititti: Yiimnaa, abbaa fira Yiimnotaa ti; Yiishiwi abbaa fira Yiishiwootaa ti; Berii'a, abbaa fira Beriyoootaa ti;

⁴⁵ sanyiin Berii'aa: Heber, abbaa fira Heberootaa ti; Malkii'el, abbaa fira Malkii'elootaa ti;

⁴⁶ Asheer intala, «Seraa» jedhantu qabaayyu.

⁴⁷ Firri sanyiin Asheerii kun laakkowamanee, dhiirti kuma shantamii sadii fi dhibba afur teete.

⁴⁸ Sanyiin Naftaalemii akka fira fira isaaniititti: Yaahize'el, abbaa fira Yaahize'elootaa ti; Guni, abbaa fira Gunotaa ti;

⁴⁹ Yezer, abbaa fira Yezerootaa ti; Shiilem, abbaa fira Shiilemootaa ti.

⁵⁰ Isaan kun sanyii fira Naftaalemii ti; laakkossi isaanii, dhiirti kuma afurtamii shanii fi dhibba afuri.

⁵¹ Dhiirti kolbaa Israa'elii laakkowantee wolumatti kuma dhibba jaa fi kuma tokkoo fi dhibba torbaa fi soddoma teete.

⁵² Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

⁵³ «Akka laakkossa maqaa isaaniititti latti isaaniif goodantuu ti.

⁵⁴ Fira gudda'aaf lafa guddoo, fira diqqa'aaf lafa diqqoo kenniif; firri tokko tokkooyyuu akkuma laakkossa ifiititti lafa fudhatuu ti.

⁵⁵ Latti hixaa buufatiisaan goodantuu ti; isaan akkuma maqaa gosa abbootii isaanii ta duriititti fudhatanuu ti.

⁵⁶ Qoodi lafaa sun fira gugurda'aa fi fira didiqqaa oddu'utti hixaa buufatiisaan te'uu ti» jedhe.

⁵⁷ Laakkossi Lewwootaa akka fira fira isaaniititti: Gershoon, abbaa fira Gershoonotaa ti; Qehaati, abbaa fira Qehaatotaa ti; Meraari, abbaa fira Meraarotaa ti;

⁵⁸ worri asii gad jirulle firuma Lewwootaa ti: fira Liibnaa'otaa, fira Heronootaa, fira Maahilootaa, fira Mushootaa, fira Qoraahotaa ti; Qehaati abbaa Amraamii ti;

⁵⁹ maqaan niitii Amraamii Yokebeed; isiin intala sanyii Lewwi'ii ta biyya Gibxi'iititti dhalatte; isiin Aaron, Muuse'ee fi obboleettii isaanii Miiriyaam Amraamiif deette.

⁶⁰ Aaron ilmaan afur Naadaab, Abiihuu, Ele'azaarii fi Itaamaar uumate.

⁶¹ Naadaabii fi Abiihuun ammoo ibidda hin ajajaminiin Mootii Waan Maraa duratti ciincaa yennaa dhikeessane du'ane.

⁶² Dhiirti Lewwootaa ka dhalatanee ji'a tokkootii fi ji'a tokkoo olii kuma diddamii sad; odduu Israa'eloota kaaniititti latti waan isaaniif hin kenaminiif, isaan Israa'eloota kaan woliin hin laakkowanne.

⁶³ Isaan kun Muuse'ee fi Ele'azaariin hayyichi fuullee Yeriko'oo cinaa laga Yordaanosiititti dirree Mo'aabii keessatti yennaa Israa'eloota laakkowane worra laakkowame.

⁶⁴ Muuse'ee fi Aaroniin hayyichi lafa goomolee Siina'aa keessatti Israa'eloota yennaa laakkowane isaan kana keessaa nami tokkolle Israa'eloota laakkowamane san keessa hin jiru.

⁶⁵ Mootiin Waan Maraa Israa'elooti sun goomolee keessatti akka dhumatanu waan itti himeeruuf, isaan keessaa Kaalebii ilma Yofuneetii fi Iyaa-suu ilma nunii malee, nami tokkolle hin hanne.

27

Ijoollee Durraa Ta Zelofehaadii

¹ Ijoolleen durraa ta Zelofehaadii: Maahilaa, No'aa, Hoglaa, Miilka'aa fi Tiirza'a. Zelofehaad ka Heferii, Hefer ka Giil'aadii, Giil'aad ka Maakiirrii, Maakiir ka Minaase'ee, Minaaseen ka Yoseefii ti.

² Ijoolleen durraa sun gara seensuma Dunkaanii Woldeenna'aa dhaxxee fuula Muuse'ee, fuula Ele'azaarii hayyichaa, fuula sooreyyi'iitii fi fuula wolde'a duudi'ii dura dhaabbattee,

³ «Abbaan keenna goomolee keessatti du'e. Inni worra Mootii Waan Maraa mormiisaaf wolitti qabame, golii Qoraahii keessa hin jiru; inni ilmaan adoo hin uumatin cubbuma ifitiin du'e.

⁴ Ilma waan hin uumatiniif, maqaan abbaa keennaa fira isaa keessaa maaf bada ree? Fira abbaa keennaa oddu'utti lafa nuu kenna'a» jette.

⁵ Maarre Muuseen haajaa isaanii Mootii Waan Maraatitti dhikeesse;

⁶ Mootiin Waan Maraalle, isaan,

⁷ «Wonni ijoolleen durraa ta Zelofehaadii gaafatte sirri'i; odduu fira abbaa isaaniititti lafa isaaniif kenni; dhaalli abbaa isaanii gara isaanii akka dabaru godhi.

⁸ Ati kolbaa Israa'eliitiin, «Nami tokko ilma adoo hin uumatin yoo du'e, ijoolleen durraa ta isaa karra isaa akka dhaaltu godha'a.

⁹ Inni yoo ijoollee durraalle hin qabaatin, karra isaa obboleeyyan isaatiif kenna'a.

¹⁰ Inni yoo obboleeyyan hin qabaatin, obboleeyyan abbaa isaatiif kenna'a.

¹¹ Abbaan isaa yoo obboleeyyan hin qabaatin, karra isaa fira aantii isaatiif kenna'a; inni dhaaluu ti; akkuma ani Mootiin Waan Maraa si ajaje, kun kolbaa Israa'eliif qajeelfama seeraa te'uu ti» jedhi» jedhe.

Iyaasuun Addee Muuse'etitti Filame

¹² Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Gaara Abaariimii kana irratti ol bayiitii, lafa ani kolbaa Israa'eliitiif kenne ilaali.

¹³ Ati isii dhaggiteen duuba, akkuma obboleessi keeti Aaron du'e, atille hin duuta;

¹⁴ sababille yennaa kolbaan bisaan goomolee Ziinii keessaa biratti na finqilte, isin lamaanuu ila isaanii duratti ana woyyoonsuu diddane ajaja kiyyaaf ajajamuu diddaneertan. Bisaan kun Bisaan Mariiba'aa ka Qaadesh keessaa ka goomolee Ziinii keessaa ti» jedhe.

¹⁵ Muuseen Mootii Waan Maraatiin,

¹⁶ «Ee Mootiin Waan Maraa, Waaqa jiruu nama maraa, kolbaa tana irratti nama tokko fili!

¹⁷ Innille kolbaan teeti akka hoolee tisee hin qannee akka hin teene, isaaniin dura ka deemu, ka isaaniin dura gad bayuu fi ka isaaniin dura ol seenu, ka gad isaan baasuu fi ka ol isaan galchu» jedhe.

¹⁸ Maarre Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Iyaasuu ilma Nunii, nama Ayyaanni keessa jiru fuudhiitii, harka keeti isa irra keyi;

¹⁹ Ele'azaarii hayyichaa fi wolde'a duudii dura dhaabbachiisiitii, hujii inni itti gaafatamu kana isaan duratti itti kenni.

²⁰ Wolde'i Israa'elii duudiin akka isaaf ajajamu, baallii teeti irraa garii isaaf kenni.

²¹ Inni fuula Ele'azaarii hayyichaa, ka karaa Uriimiitiin* fedhii tiyya beeku dura dhaabbatuu ti; akkuma ajaja hayyichaattii, Iyaasu'uu fi wolde'i Israa'elii duudiin bayanee galanuu ti» jedhe.

²² Muuseen akkuma Mootiin Waan Maraa isa ajaje godhe. Inni Iyaasuu fuudhee fuula Ele'azaarii hayyichaatii fi fuula wolde'a Israa'elii duudii dura dhaabbachiise.

²³ Achiin duuba harka ifii isa irra keyee, akkuma Mootiin Waan Maraa isa ajaje hujii inni itti gaafatamu itti kenne.

28

Kennansa Guyyuma Guyya'aan Dhikaatu (Bay. 29:38-46)

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

² «Ati Israa'eloota ajajiitii: Kennansa sagale'ee ka ibiddaan gubamee naaf dhikaatu, ka foolee dansaa qabu ka na gammachiisu, yennaa isaattitti akka naaf dhikeessanu itti himi.

³ «Kennansi ibiddaan gubamee guyyuma guyya'aan isin naaf dhikeessitanu kana: buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta fafa hin qanne, ta woggaa tokko tokkoo lama kennansa gubamu,

⁴ buruusoo korbeeyyii hoole'ee tokkocha ganama, kaan galgala,

* **27:21 Uriim:** Waan bara san hayyooti fedhii Waaqaa ittiin beekanu.

⁵ tokko tokkoo isaanii waliin kennansa midhaanii bullaa dansaa gara kiiloogiraama tokkoo, ta zayitii ejersaa litirii tokkoon sukkuumame dhi-keessa'a.

⁶ Kun kennansa guyyuma guyya'aan gubamu, ka foolee dansaa qabu ka ana Mootii Waan Maraa gammachiisu, seera kennansa ibiddaan gubamee naaf dhikaatu ka gaara Siina'aa irratti jalqabame.

⁷ Buruusa korbeessa hoole'ee ka qaraa waliin daadhii woyni'ii ta macheessitu litirii tokko dhikeessa'a. Daadhii woyni'ii san addee Woyyittii irratti ana Mootii Waan Maraatiif dhibaasa'a.

⁸ Buruusa korbeessa hoole'ee ka lammeesso'oolle akkuma ka ganamaa dhikeessitane san kennansa daadhii woyni'iitii fi kennansa midhaanii waliin galgala dhikeessa'a. Kun kennansa ibiddaan gubamu ka foolee dansaa qabu ka ana Mootii Waan Maraa gammachiisu.

Kennansa Sanbataa

⁹ «Guyyaa Sanbataa buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokko tokkoo ta fafa hin qanne lama, daadhii woyni'iitii fi kennansa midhaanii bullaa dansaa kiiloogiraama lama ta zayitii ejersaatiin sukkuumante waliin dhi-keessa'a.

¹⁰ Kun kennansa Sanbata mara gubamu, ka kennansa daadhii woyni'iitii fi kennansa guyyuma guyya'aan gubamu irratti dabalamee dhikaatu.

Kennansa Ji'uma Ji'aan Dhikaatu.

¹¹ «Ji'uma ji'aan guyyaa qaraa kennansa gubamu dardaroota fafa hin qanne lama, korbeessa hoole'ee ka fafa hin qanne tokkoo fi buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokkoo ta fafa hin qanne torba ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessa'a.

¹² Akkasuma dardara tokko tokkooyyuu waliin kennansa midhaanii bul-
laa dansaa kiiloogiraama sad ta zayitii ejersaatiin sukkuumante, korbeessa hoole'ee tokko waliin kennansa midhaanii bullaa dansaa kiiloogiraama lama ta zayitii ejersaatiin sukkuumante,

¹³ buruusoo korbeeyyii hoole'ee tokko tokkooyyuu waliin, kennansa mid-
haanii bullaa dansaa kiiloogiraama tokko ta zayitii ejersaatiin sukkuumante dhikeessa'a; kun kennansa ibiddaan gubamu ka foolee dansaa qabu ka ana Mootii Waan Maraa gammachiisu.

¹⁴ Dardaroota tokko tokkooyyuu waliin kennansa daadhii woyni'ii litirii lama, korbeessa hoole'ee tokko waliin daadhii woyni'ii litirii tokkoo fi wod-
hakkaa, buruusoo korbeeyyii hoole'ee waliin daadhii woyni'ii litirii tokko dhikeessa'a; kun baatii ji'uma ji'aatitti, kennansa gubamu ka woggaa guutuu dhikaatu.

¹⁵ Kennansa gubamu ka guyyuma guyya'aan daadhii woyni'ii waliin dhikaatu waliin araaraa cubbu'uutiif korbeessa re'e'ee tokko ana Mootii Waan Maraatiif dhikeessa'a.

Kennansa Guyyaa Jila Irra Dabaramaa Dhikaatu

¹⁶ «Jilti Irra Dabaramaa ta ana Mootii Waan Maraa, ji'a qaraa guyyaa kudhanii arfeesso'ootitti teetuu ti.

¹⁷ Ji'a kana guyyaa kudhanii shaneesso'ootitti jila jilifadha'a; guyyaa torba daabboo uukoo hin qanne nyaadha'a.

¹⁸ Guyyaa qaraa yaa'ii woyyittii godhadha'a malee ijjumaa hujii hin hu-
jina'a.

¹⁹ Dardara lama ka fafa hin qanne, korbeessa hoole'ee tokko ka fafa hin qanne, buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokkoo torba ta fafa hin qanne, kennansa gubamu ana Mootii Waan Maraatiif qopheessa'a.

²⁰ Dardaroota tokko tokkooyyuu woliin kennansa midhaanii bullaa dansaa kiiloogiraama sad ta zayitii ejersaatiin sukkuumante, korbeessa hoole'ee tokko woliin bullaa dansaa kiiloogiraama lama dhikeessa'a;

²¹ buruusoo korbeeyyii hoole'ee torba tokko tokkooyyuu wolille'een bullaa dansaa kiiloogiraama tokko ta zayitii ejersaatiin sukkuumante dhikeessa'a.

²² Itti dabala'aatii kennansa araaraa cubbuu teessaniitiif, korbeessa re'e'ee tokko gumaa dhikeessa'a.

²³ Isaan kana kennansa gubamu ka guyyuma guyya'aan ganama ganama dhikaatu irratti dabala'aatii dhikeessa'a.

²⁴ Akka kanaan, kennansa sagale'ee ka ibiddaan gubamu ka foolee dansaa qabu ka ana Mootii Waan Maraa gammachiisu, guyyaa torbaaf guyyuma guyya'aan dhikeessa'a. Kun kennansa daadhii woyni'iitii fi kennansa gubamu ka guyyuma guyya'aan dhikaatu irratti dabalamee dhikaata.

²⁵ Guyyaa torbeesso'oo yaa'ii woyyittii godha'a malee ijumaa hujii hin hujina'a.

Kennansa Midhaan Matoomaa

²⁶ «Guyyaa midhaan matoomaa galfatanu, kennansa midhaan haareyaa ana Mootii Waan Maraatiif yennaa dhikeessitanu, jila teessan ta torbaan torbaatitti, yaa'ii woyyittii godha'a malee ijumaa hujii hin hujina'a.

²⁷ Dardara lama, korbeessa hoole'ee tokko, buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokko tokkoo torba, kennansa gubamu ka foolee dansaa qabu ka ana Mootii Waan Maraa gammachiisu dhikeessa'a.

²⁸ Dardaroota tokko tokkooyyuu woliin kennansa midhaanii bullaa dansaa kiiloogiraama sad ta zayitii ejersaatiin sukkuumante, korbeessa hoole'ee woliin bullaa dansaa kiiloogiraama lama,

²⁹ buruusoo korbeeyyii hoole'ee torba tokko tokkooyyuu woliin bullaa dansaa kiiloogiraama tokko ta zayitii ejersaatiin sukkuumante dhikeessa'a.

³⁰ Itti dabala'aatii gumaa cubbuu teessaniitiif, korbeessa re'e'ee tokko dhikeessa'a.

³¹ Kun kennansa daadhii woyni'ii woliin kennansa gubamu ka guyyuma guyya'aan dhikaatuu fi kennansa midhaanii ka isaanii irratti dabalamee dhikaatuu ti. Horiin dhikeyffame kun ka fafa hin qanne akka te'e hubadha'a.

29

Kennansa Jila Woggaa Haareya Irratti Dhikaatu

¹ «Ji'a torbeesso'oo guyyaa qaraa yaa'ii woyyittii godhadha'a malee ijumaa hujii hin hujina'a. Guyyaan sun guyyaa isin tultullaa afuuttanu.

² Dardara tokko ka fafa hin qanne, korbeessa hoole'ee tokko ka fafa hin qannee fi buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokko tokkoo torba ta fafa hin qanne, kennansa gubamu ka foolee dansaa qabu ka ana Mootii Waan Maraa gammachiisu dhikeessa'a.

³ Dardara san woliin kennansa midhaanii bullaan dansaan kiiloogiraama sad ta zayitii ejersaatiin sukkuumante, korbeessa hoole'ee san woliin bullaa dansaa ta zayitii ejersaatiin sukkuumante kiiloogiraama lama,

⁴ buruusoo korbeeyyii hoole'ee torba san tokko tokkooyyuu woliin bullaa dansaa ta zayitii ejersaatiin sukkuumante kiiloogiraama tokko qopheessa'a.

⁵ Itti dabala'aatii kennansa araaraa cubbuu teessaniitiif, korbeessa re'e'ee tokko gumaa qopheessa'a.

⁶ Kun kennansa midhaaniitii fi kennansa daadhii woyni'ii ka isaan woliin dhikaatu woliin akkuma seera tumameetitti kennansa gubamu ka guyyuma

guyya'aa fi ji'uma ji'aan dhikaatutti dabalamanee, kennansa ibiddaan gubamu ka foolee dansaa qabu ka ana Mootii Waan Maraa gammachiisu.

Kennansa Guyyaa Gumaan Cubbu'uu Dhikaatuu
(Lew. 23:26-32)

⁷ «Ji'a torbeesso'oo kana keessa guyyaa kudhaneesso'oo yaa'ii woyyittii godhadha'a. Guyyaa san ifi gad qaba'a; ijjumaa hujille hin hujina'a.

⁸ Dardara tokko ka fafa hin qanne, korbeessa hoole'ee tokko ka fafa hin qanne, buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokko tokkoo torba ta fafa hin qanne, kennansa gubamu ka foolee dansaa qabu ka ana Mootii Waan Maraa gammachiisu dhikeessa'a.

⁹ Dardara san waliin kennansa midhaanii, bullaan dansaan kiiloogiraama sad ta zayitii ejersaatiin sukkuumante, korbeessa hoole'ee waliin bullaa dansaa ta zayitii ejersaatiin sukkuumante kiiloogiraama lama,

¹⁰ buruusoo korbeeyyii hoole'ee torba tokko tokkooyyuu waliin bullaa dansaa ta zayitiin ejersaatiin sukkuumante kiiloogiraama tokko dhikeessa'a.

¹¹ Gumaa kennansa araaraa cubbu'uutiif kennansa guyyuma guyya'aan gubamu kennansa midhaanii ka isaatii fi kennansa daadhii woyni'ii ka isaaniititti dabala'aatii kennansa araaraa cubbu'uutiif korbeessa re'e'ee tokko dhikeessa'a.

Kennansa Guyyaa Jila Gose'ee Dhikaatu
(Lew. 23:33-44)

¹² «Ji'a torbeesso'oo keessa guyyaa kudhanii shaneesso'oo yaa'ii woyyittii godhadha'a malee guyyaa san ijjumaa hujii hin hujina'a; jila guyyaa torbaa ana Mootii Waan Maraatiif jilifadha'a.

¹³ Dardaroota kudhanii sad ka fafa hin qanne, korbeeyyii hoole'ee lama ta fafa hin qanne, buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokko tokkoo kudhanii afur ta fafa hin qanne kennansa gubamu ka foolee dansaa qabu ka ana Mootii Waan Maraa gammachiisu dhikeessa'a.

¹⁴ Dardaroota kudhanii sad tokko tokkooyyuu waliin kennansa midhaanii bullaa dansaa kiiloogiraama sad ta zayitii ejersaatiin sukkuumante, korbeeyyii hoole'ee lama tokko tokkooyyuu waliin bullaa dansaa ta zayitii ejersaatiin sukkuumante kiiloogiraama lama,

¹⁵ buruusoo korbeeyyii hoole'ee kudhanii afur tokko tokkooyyuu waliin bullaa dansaa ta zayitii ejersaatiin sukkuumante kiiloogiraama tokko tokko dhikeessa'a.

¹⁶ Kennansa guyyuma guyya'aan gubamu kennansa midhaaniitii fi kennansa daadhii woyni'ii ka isa waliin dhikaatu irratti dabala'aatii kennansa araaraa cubbu'uutiif korbeessa re'e'ee tokko dhikeessa'a.

¹⁷ «Guyyaa lammeesso'oo dardaroota kudhanii lama ta fafa hin qanne, korbeeyyii hoole'ee lama ta fafa hin qanne, buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokko tokkoo kudhanii afur ta fafa hin qanne qopheessa'a.

¹⁸ Dardaroota san, korbeeyyii hoole'eetii fi buruusoo korbeeyyii hoole'ee san waliin kennansa midhaaniitii fi kennansa daadhii woyni'ii ka isaanii akkuma seera laakkossa isaaniitiif tumameetitti qopheessa'a.

¹⁹ Kennansa guyyuma guyya'aan gubamu kennansa midhaanii ka isaatii fi kennansa daadhii woyni'ii ka isaanii waliin dhikaatu irratti dabala'aatii kennansa araaraa cubbu'uutiif korbeessa re'e'ee tokko dhikeessa'a.

²⁰ «Guyyaa sadeesso'oo dardaroota kudhanii tokko ta fafa hin qanne, korbeeyyii hoole'ee lama ta fafa hin qannee fi buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokkoo kudhanii afur ta fafa hin qanne qopheessa'a.

²¹ Dardaroota san, korbeeyyii hoole'eetii fi buruusoo korbeeyyii hoole'ee san waliin kennansa midhaaniitii fi kennansa daadhii woyni'ii ka isaanii akkuma seera laakkossa isaaniitiif tumameetitti qopheessa'a.

²² Kennansa guyyuma guyya'aan gubamu kennansa midhaaniitii fi kennansa daadhii woyni'ii ka isa waliin dhikaatu irratti dabala'aatii kennansa araaraa cubbu'utiif korbeessa re'e'ee tokko qopheessa'a.

²³ Guyyaa arfeesso'oo dardaroota kudhan ta fafa hin qanne, korbeeyyii hoole'ee lama ta fafa hin qannee fi buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokko tokkoo kudhanii afur ta fafa hin qanne qopheessa'a.

²⁴ Dardaroota san, korbeeyyii hoole'eetii fi buruusoo korbeeyyii hoole'ee san waliin kennansa midhaaniitii fi kennansa daadhii woyni'ii ka isaanii akkuma seera laakkossa isaaniitiif tumameetitti qopheessa'a.

²⁵ Kennansa guyyuma guyya'aan gubamu kennansa midhaaniitii fi kennansa daadhii woyni'ii ka isa waliin dhikaatu irratti dabala'aatii kennansa araaraa cubbu'utiif korbeessa re'e'ee tokko qopheessa'a.

²⁶ «Gyyaa shaneesso'oo dardaroota sagal ta fafa hin qanne, korbeeyyii hoole'ee lama ta fafa hin qannee fi buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokko tokkoo kudhanii afur ta fafa hin qanne qopheessa'a.

²⁷ Dardaroota san, korbeeyyii hoole'eetii fi buruusoo korbeeyyii hoole'ee san waliin kennansa midhaaniitii fi kennansa daadhii woyni'ii ka isaanii akkuma seera laakkossa isaaniitiif tumameetitti qopheessa'a.

²⁸ Kennansa guyyuma guyya'aan gubamu kennansa midhaaniitii fi kennansa daadhii woyni'ii ka isa waliin dhikaatu irratti dabala'aatii kennansa araaraa cubbu'utiif korbeessa re'e'ee tokko qopheessa'a.

²⁹ «Gyyaa jayeesso'oo dardaroota saddeeti ta fafa hin qanne, korbeeyyii hoole'ee lama ta fafa hin qannee fi buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokko tokkoo kudhanii afur ta fafa hin qanne qopheessa'a.

³⁰ Dardaroota san, korbeeyyii hoole'eetii fi buruusoo korbeeyyii hoole'ee san waliin kennansa midhaaniitii fi kennansa daadhii woyni'ii ka isaanii akkuma seera laakkossa isaaniitiif tumameetitti qopheessa'a.

³¹ Kennansa guyyuma guyya'aan gubamu kennansa midhaaniitii fi kennansa daadhii woyni'ii ka isa waliin dhikaatu irratti dabala'aatii kennansa araaraa cubbu'utiif korbeessa re'e'ee tokko qopheessa'a.

³² «Gyyaa torbeesso'oo dardaroota torba ta fafa hin qanne, korbeeyyii hoole'ee lama ta fafa hin qannee fi buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokko tokkoo kudhanii afur ta fafa hin qanne qopheessa'a.

³³ Dardaroota san, korbeeyyii hoole'eetii fi buruusoo korbeeyyii hoole'ee san waliin kennansa midhaaniitii fi kennansa daadhii woyni'ii ka isaanii akkuma seera laakkossa isaaniitiif tumameetitti qopheessa'a.

³⁴ Kennansa guyyuma guyya'aan gubamu kennansa midhaaniitii fi kennansa daadhii woyni'ii ka isa waliin dhikaatu irratti dabala'aatii kennansa araaraa cubbu'utiif korbeessa re'e'ee tokko qopheessa'a.

³⁵ «Gyyaa saddeetesso'oo yaa'ii woyyittii godhadha'a malee ijjumaa hujii hin hujina'a.

³⁶ Dardara tokko ka fafa hin qanne, korbeessa hoole'ee tokko ka fafa hin qannee fi buruusoo korbeeyyii hoole'ee ta woggaa tokko tokkoo torba ta fafa hin qanne, kennansa gubamu ka foolee dansaa qabu ka ana Mootii Waan Maraa gammachiisu dhikeessa'a.

³⁷ Dardara san, korbeessa hoole'eetii fi buruusoo korbeeyyii hoole'ee san waliin kennansa midhaaniitii fi kennansa daadhii woyni'ii ka isaanii akkuma seera laakkossa isaaniitiif tumameetitti qopheessa'a.

³⁸ Kennansa guyyuma guyya'aan gubamu kennansa midhaaniitii fi kennansa daadhii woyni'ii ka isa waliin dhikaatu irratti dabala'aatii kennansa araaraa cubbu'uutiif korbeessa re'e'ee tokko qopheessa'a.

³⁹ «Isin jila teessan ta beekkante irratti, waan waadaa galtanee fi kennansa fedhii teessaniin dhikeessitanu irratti dabaltanee kennansa keessan ka gubamu, kennansa keessan ka midhaanii, kennansa keessan ka daadhii woyni'iitii fi kennansa keessan ka tokkumma'aa ana Mootii Waan Maraatiif qopheessa'a» jedhe.

⁴⁰ Muuseen waan Mootiin Waan Maraa isa ajaje mara Israa'elootatti hime.

30

Qajeelfama Marroo Waada'aa

¹ Muuseen sooreyyii gosa Israa'eliitiin, «Wonni Mootiin Waan Maraa ajaje ka asii gad jiru:

² Kunille, «Nami tokko waan tokko ana Mootii Waan Maraatiif kenniisaaf waadaa yoo gale yookiin waan tokko akka hin gooneef yoo kakate, waan jedhe san mara godhuu qaba malee, jecha ifii san diiguu hin qabu.

³ «Intalti durraa adoo mana abbaa ifii jirtuu waan tokko ana Mootii Waan Maraatiif kenniisaaf waadaa yoo galte yookiin waan tokko godhiisaaf yoo kakatte,

⁴ abbaan isi'ii marroo waan kanaa dhage'ee yoo cadhise, waan waadaa galte san yookiin kakatte san muummessuu qaddi.

⁵ Abbaan isi'ii marroo waan kanaa dhage'ee, waadaa ifii akka isiin hin muummessine yoo isii morme ammoo, waadaa san muummessiisaaf dirqama hin qaddu; akka isiin waadaa ifii hin muummessine, abbaan isi'ii waan isii dhooggeef, ani Mootiin Waan Maraa isi'iif hin araarama.

⁶ «Dubartiin hin heerumin takka waadaa yoo galte yookiin yaada-malee waan tokko akka hin gooneef kakatteen duuba yoo heerumte,

⁷ dhirsi isi'ii marroo waan kanaa dhage'ee yoo cadhise, waan waadaa galte san yookiin waan kakatte san muummessuu qaddi.

⁸ Dhirsi isi'ii marroo waan kanaa dhage'ee yoo isii morme ammoo, muummessiisaaf dirqama hin qaddu; waadaa isi'ii akka hin muummessine ka dhoogge dhirsa isi'ii waan te'eef, ani Mootiin Waan Maraa isi'iif hin araarama.

⁹ «Haati hiyyeessaa takka yookiin dubartiin dhirsi lakkiseeru takka waan waadaa galte yookiin waan kakatte san muummessuu qaddi.

¹⁰ «Dubartiin heerumteertu takka yoo waadaa galte yookiin waan tokko godhiisaaf yoo kakatte,

¹¹ dhirsi isi'ii marroo waan kanaa dhage'ee yoo cadhise, waan waadaa galte san yookiin waan kakatte san muummessuu qaddi.

¹² Dhirsi isi'ii marroo waan kanaa dhage'ee guyyuma san yoo isii morme ammoo, muummessiisaaf dirqama hin qaddu; waadaa isi'ii akka hin muummessine ka dhoogge dhirsa isi'ii waan te'eef, ani Mootiin Waan Maraa isi'iif hin araarama.

¹³ Dhirsi isi'ii waadaa isiin galte san yookiin waan godhiisaaf isiin kakatte san mara eeyyamiisaaf yookiin mormiisaaf mirga qaba.

¹⁴ Te'uu malee, dhirsi isi'ii guyyaa dhage'een jalqabee yoo cadhise, waan waadaa galtee fi waan kakatte san muummessuu qaddi; inni guyyaa dhage'een jalqabee waan cadhiseef, eeyyamuu ifii mirkaneesseera.

¹⁵ Te'uu malee, inni dhage'ee guyyaa diqqa'aan duuba yoo moromaa kaase, isiin yoo waadaa ifii hin muummessin isatti itti gaafatama» ka jedhu» jedhe.

¹⁶ Tokkummaa dhirraa fi niitii wodhakkaa jiru, abba'aa fi intalti durraa ta mana abbaa ifii jirtu wodhakkaa jiru ilaalchisee seerati Mootiin Waan Maraa Muusee ajaje kana.

31

Israa'elooti Worra Miidiyaanotaa Haluu Baate

- ¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,
² «Marroo Israa'elootaatiif, worra Miidiyaanota haluu bayi; achiin duuba, ati hin duuta» jedhe.
³ Maarre Muuseen, kolba'aan, «Worra Miidiyaanotaa dhaqanee lolanee, haluu Mootii Waan Maraa akka bayanu, isin keessaa nama garii lolaaf qopheessa'a.
⁴ Gosa Israa'elii tokko tokkooyyuu keessaa dhiira kuma tokko tokko gara lolaa erga'a» jedhe.
⁵ Maarre gosa Israa'elii tokko tokkooyyuu keessaa dhiirti kum tokko tokko filantee, wolumatti dhiirti kum kudhanii lama lolaaf qophootte.
⁶ Muuseen gosa tokko tokkooyyuu keessaa dhiira kuma tokko tokko, Fiinehaasii ilma Ele'azaarii hayyichaa ka meya addee woyyitti'iitii fi tultullaa lolaaf ittiin dammassanu harkatti qabateeru waliin gara lolaa erge.
⁷ Isaan akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajajetti, worra Miidiyaanotaa lolanee dhiira mara ijjeesane.
⁸ Worra isaan ijjeesane san keessa moototi worra Miidiyaanotaa shanan Ewii, Reqem, Zuur, Huurii fi Rebaalle hin jiran. Isaan Bala'aamii ilma Be'oriille shallaaga'aan ijjeesane.
⁹ Israa'elooti dubartoota worra Miidiyaanotaatii fi ijoollee isaanii booji'anee loon isaanii mara, hoole'ee fi re'ee isaaniitii fi karra isaanii mara saamanee fudhatane.
¹⁰ Qacha'aa fi addee quttuma isaanii maralle gubane.
¹¹ Isaan waan booji'anee fi saamane mara namaa fi horii fuudhane.
¹² Achiin duuba isaan waan booji'anee fi waan saamane laga Yordaanosiitiin gama, fuullee Yeriko'ootitti, dirree Mo'aabiititti addee isaan qubataaneerannutti gara Muuse'ee fi Ele'azaarii hayyichaa, akkasuma gara wolde'a Israa'elootaa fidane.

Lola Irraa Deebi'iisa Loltoota

- ¹³ Muuseen, Ele'azaariin hayyichii fi sooreyyiin wolde'aa marti loltoota qophatiisaaf addee quttumaa keessaa alatti bayane.
¹⁴ Muuseen ajajjoota loltootaa ka te'ane ajajjoota kumaatii fi ajajjoota dhibbaa worra lola irraa deebi'anetti aare.
¹⁵ Inni, «Isin dubartooti martinuu akka lubbu'uun hafanu maaf gootane?»
¹⁶ Isaan kun gorsa Bala'aamii fudhatanee, Phe'oritti Israa'elooti Mootii Waan Maraa akka lakkittuu fi balaan kolbaa Mootii Waan Maraatiitti akka bu'u worra godhe.
¹⁷ Maarre amma ijoollee dhiiraa maraa fi dubartoota dhiira waliin rafaaneeranu mara ijjeesaa'a.
¹⁸ Durra dhiira waliin rattee hin beenne ammoo ifiif hamburadha'a.
¹⁹ Isin worri nama ijeettane yookiin reeffa tuxxane marti guyyaa torba addee quttumaatiin ala turuu qaddan. Guyyaa sadeesso'ootii fi guyyaa torbeesso'oo ifii fi dubartoota booji'attanelle qulqulleessa'a.
²⁰ Woyaa maraayyuu, waan goga'aa fi rifeensa re'e'ee irraa hujame mara yookiin waan muka irraa hujame mara qulqulleessa'a» jedhe.
²¹ Ele'azaariin hayyichi, loltoota lola irraa deebi'aneen, «Ajaji seeraa ka Mootiin Waan Maraa Muusee ajaje ka asii gad jiru:

²² Worqii, meetii, sageettuu, sibiila, qorqooroo, irsaasa,

²³ waan ibiddi hin gunne mara ibidda keessa dabarsa'aatii qulqulleessa'a. Te'uu malee bisaan ittiin qulqulleessiisaalle'een qulleessuu qaddan. Wonni ibiddi gubu marti bisaan ittiin qulqulleessiisaa keessa dabarsa'aatii qulleessa'a.

²⁴ Guyyaa torbeesso'oo woyaa teessan dhiqadha'a; isin qulluu hin teetan. Achiin duuba gara addee quttumaa gala'a» jedhe.

Boojuu Qoodamane

²⁵ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

²⁶ «Atii fi Ele'azaariin hayyichi, sooreyyii kolba'aa woliin waan boojitane mara, namootaa fi horiille laakkowa'a.

²⁷ Boojuu san worra loltootaatii fi kolba'aaf addee lamatti qooda'a.

²⁸ Qooda loltootaa irraa namoota keessaa, loon keessaa, harree keessaa, hoole'ee fi re'ee keessaa dhibba shan keessaa tokko ana Mootii Waan Maraatiif qooda adda baasi.

²⁹ Ana Mootii Waan Maraatiif kennansa addaa godhiitii, Ele'azaarii hayyichatti kenni.

³⁰ Qooda Israa'elootaa irraa namoota keessaa, loon keessaa, harree keessaa, hoole'ee fi re'ee keessaa shantama keessaa tokko fuudhiitii Lewwoota worra itti gaafatantoota dunkaanii dhugaa bayaa tiyya keessa tajaajilanuuf kenni» jedhe.

³¹ Muuse'ee fi Ele'azaariin hayyichi akkuma Mootii Waan Maraa Muusee ajaje godhane.

³² Boojuu loltooti fudhatte irraa ka hafe hoolee 675,000,

³³ loon 72,000,

³⁴ harree 61,000

³⁵ fi durra dhiira woliin rattee hin beenne 32,000.

³⁶ Qoodi worra lola dhagee deebi'ee, hoolee 337,500;

³⁷ isaan keessaa qoodi Mootii Waan Maraatiif baafame hoolee 675.

³⁸ Loon 36,000; isaan keessaa qoodi Mootii Waan Maraatiif baafame loon 72.

³⁹ Harreen 30,500; isaan keessaa qoodi Mootii Waan Maraatiif baafame harree 61.

⁴⁰ Namooti 16,000; isaan keessaa qoodi Mootii Waan Maraatiif baafame namoota 32;

⁴¹ Muuseen qooda Mootii Waan Maraatiif baafame san akkuma Mootiin Waan Maraa isa ajaje Ele'azaarii hayyichatti kenne.

⁴² Qoodi Israa'elootaa, ka Muuseen worra lola dhagee deebi'ee san irraa adda baase:

⁴³ qoodi kolba'aa hoolee 337,500;

⁴⁴ loon 36,000;

⁴⁵ harree 30,500

⁴⁶ fi durra dhiira woliin rattee hin beenne 16,000.

⁴⁷ Muuseen qooda Israa'elootaa irraa namoota keessaa, horii keessalle'ee shantama keessaa tokko fuudhee, akkuma Mootiin Waan Maraa isa ajajetti, Lewwoota itti gaafatantoota dunkaanii dhugaa bayaa ta Mootii Waan Maraa keessa tajaajilanuuf kenne.

⁴⁸ Achiin duuba ajajjoota loltootaa ka te'ane ajajjooti kumaatii fi ajajjooti dhibbaa gara Muuse'ee dhaqanee,

⁴⁹ «Nuuti tajaajiltooti teeti, loltoota ajaja keenna jala jiranu laakkonneerra; isaan keessaa tokkolle ka dhidhate hin jiru.

⁵⁰ Maarre nuuti Mootii Waan Maraa duratti gumaa cubbuu teennaa tolchi-isaaf, waan nami tokko tokkooyyuu dhaggate meya worqii irraa hujame: irmuura miilaa, irmuura harkaa, qubee qubaa, qubee gurraatii fi dooqa mormaa kennansa Mootii Waan Maraatiif finneerra» jedhane.

⁵¹ Muuse'ee fi Ele'azaariin hayyichi faaya meya worqii irraa hujamee san mara isaan irraa fuudhane.

⁵² Worqiin ajajjooti kumaatii fi ajajjooti dhibbaa Mootii Waan Maraatiif fidane wolumatti gara kiilooqiraama dhibba lamaa teete.

⁵³ Loltooti tokko tokkooyyuu waan saamane ifumaaf fudhataneeran.

⁵⁴ Muuse'ee fi Ele'azaariin hayyichi worqii ajajjoota kumaatii fi ajajjoota dhibbaa irraa fuudhane san, kolbaan Israa'elii, Mootii Waan Maraa duratti akka ittiin yaadatantu gara Dunkaanii Woldeenna'aa fidane.

32

Gosa Laga Yordaanosiitiin Gara Aduun Baatu Jirtu (Kes. 3:12-22)

¹ Sanyiin Ruubeniitii fi sanyiin Gaadii horii bacaa qabaniyyu; isaan latti Yaazeriitii fi latti Giil'aadii lafa hori'iif toltu akka teete dhaggane.

² Maarre isaan gara Muuse'ee, gara Ele'azaarii hayyichaatii fi gara sooreyyii kolba'aa dhufanee,

³ «Ataaroti, Diibon, Yaazer, Niimraa, Heshiboon, Ele'aale, Sebaam, Neboonii fi Be'on,

⁴ latti Mootiin Waan Maraa akka Israa'elooti qabatanu godhe tun hori'iif dansa'a; nuuti tajaajiltooti teeti horii bacaa qanna.

⁵ Fuula keeti duratti fudhatama dhagganee yoo jiraanne, lafa tana nu tajaajiltoota teetiif kenni malee, laga Yordaanosii gamatti akka buunu hin godhin» jedhane.

⁶ Muuseen ammoo sanyii Gaadiitii fi sanyii Ruubeniitiin, «Isin as teetanuun kolbaan biyya teessanii Israa'elooti lolaaf deemanii ree?

⁷ Kolbaan biyya teessanii Israa'elooti laga Yordaanosii gamatti buutee, lafa Mootiin Waan Maraa isaaniif kennetti akka hin galle maaf addii kutachiittan ree?

⁸ Lafa akka dooyanuuf abbootii teessan Qaadash-Barnee irraa yennaa ani erge, isaanille akkasuma godhane.

⁹ Isaan haga dhooqa Eshikolii dhaqanee, lafa ilaalanee duuba, Israa'elooti gara lafa Mootiin Waan Maraa isaaniif kenneeru sanitti akka hin galle addii kutachiisane.

¹⁰ Guyyaa san Mootiin Waan Maraa guddoo aaree, kakatee,

¹¹ «Namooti biyya Gibxi'iitii bayane worri woggaan isaanii diddamaatii fi diddamaa olii gadhaa tokkochaan na gula waan hin deemiinif, isaan keessaa nami tokkolle lafa ani Abrahaamiif, Yisihaqii fi Yaaqoobiif kenni-isaaf kaku'uun waadaa gale hin dhagganu.

¹² Kaalebii ilma Yofunee Qenazichaatii fi Iyaasuu ilma Nunii worra gadhaa tokkochaan na gula deemane malee, isaan keessaa nami tokkolle hin dhaggu» jedhe.

¹³ Mootiin Waan Maraa kolbaa Israa'eliititti guddoo aaree, dhalooti fuula Mootii Waan Maraa duratti hantuu hujane sun haga dhumatanutti, kolbaan Israa'elii woggaa afurtama goomolee keessa akka joonjitu godhe.

¹⁴ Isinille amma sanyiin namoota cubbaaleyyi'ii, addee abbootii teessanii buutane, Mootiin Waan Maraa irra caalaa kolbaa Israa'eliititti akka aaru gootan.

¹⁵ Isin sanyiin Ruubeniitii fi sanyiin Gaadii isa hordofiisa irraa yoo deebi-tane, inni ammalle goomolee keessatti kolbaa tana hin lakkisa; isin badii isaaniitiif sababa hin teetan» jedhe.

¹⁶ Achiin duuba isaan gara Muuse'ee dhufanee, «Asitti horii keennaaf moonaa, ijoollee teennaa fi dubartoota teennaaf qachaa ijaaruu feena.

¹⁷ Te'uu malee, haga addee isaaniitiin isaan geennutti hidhannee Israa'eloota golii teennaa dura aannee loliisaaf qophoonneerra; yennaa san kolbaan lafa tana keessa leetu ijoollee teenna akka hin miine, ijoolleen teenna qachaa dalleenni dhaka'aa itti ijaarame keessa hin le'an.

¹⁸ Israa'elooti marti lafa ifii haga dhaalanutti nuuti gara mana keennaa hin deebinu.

¹⁹ Nuuti laga Yordaanosii irraa gara aduun baatutti lafa waan fudhanneef, laga Yordaanosiitiin gama lafa isaan waliin qoodannu hin qannu» jedhane.

²⁰ Achiin duuba Muuseen isaaniin, «Isin tana yoo gootane, lola dhaqiisaaf Mootii Waan Maraa duratti yoo qophootane,

²¹ haga inni diinota ifi fuula ifi duraa oofee baasutti, isin worri meya lolaa hidhatee lolaaf qophootaneertanu martinuu fuula Mootii Waan Maraa dura laga Yordaanosii gamatti yoo buutane,

²² yennaa latti sun harka Mootii Waan Maraa jala galte, isin deebi'uu hin dandeettan. Mootii Waan Maraatii fi Israa'elootaafille akka gootanu waan isin irraa barbaadamu muummessitaneertan. Latti sunille fuula Mootii Waan Maraa duratti teessan hin teeti.

²³ Isin waan kana yoo hin godhin ammoo, Mootii Waan Maraa irratti cubbuu hujjan; cubbuun teessan akka isin qabattu beeka'a.

²⁴ Ijoollee teessanii fi dubartoota teessaniifille qachaa, hoole'ee fi re'ee teessanille'eef gooree ijaara'a; ammoo waan waadaa galtane muummessa'a» jedhe.

²⁵ Achiin duuba sanyiin Gaadiitii fi sanyiin Ruubenii, Muuse'een, «Nuuti tajaajiltooti teeti, akka ati goottaan keenna ajajje hin goona.

²⁶ Ijoolleen teenna, dubartooti teenna, loon keennaa fi horiin keenna marti as qachoota Giil'aadii keessatti hin hafan.

²⁷ Nuuti tajaajiltooti teeti ammoo worri lolaaf qophoonne marti akkuma ati jette, Mootii Waan Maraa duratti, loliisaaf laga Yordaanosii gamatti buuna» jedhane.

²⁸ Maarre Muuseen marroo isaaniitiif Ele'azaarii hayyicha, Iyaasuu ilma Nuniitii fi sooreyyii gosa Israa'elii ajajee,

²⁹ «Sanyiin Gaadiitii fi sanyiin Ruubenii Mootii Waan Maraa duratti lolaaf qophowanee, isin waliin laga Yordaanosii bu'anee, lafa san yoo qabatane, lafa Gaal'aadii isaaniif kenna'a.

³⁰ Isaan ammoo lolaaf hidhatanee isin waliin laga Yordaanosii gamatti yoo hin bu'in, isinuma waliin lafa Kana'aanii keessatti latti qooda isaanii isaaniif kennantuu ti» jedhe.

³¹ Sanyiin Gaadiitii fi sanyiin Ruubenii deebisane, «Nuuti tajaajiltooti teeti akkuma Mootiin Waan Maraa ajaje hin goona.

³² Nuuti lolaaf hidhannee, Mootii Waan Maraa duratti, gara lafa Kana'aanii gamatti hin buuna, latti nuuti fudhannu ammoo as laga Yordaanosiitiin gamana hin teeti» jedhane.

³³ Achiin duuba Muuseen mootummaa Sihoonii mootii Amoorotaatii fi mootummaa Oogii mootii Baashaanii, lafa duudii qachoota isi'ii waliin, biyya adaala qachootaa waliin, sanyii Gaadiitii fi sanyii Ruubeniitiif, gamisa sanyii Minaasee ilma Yoseefiitiifille kenne.

³⁴ Sanyiin Gaadii qachoota dalleenni dhaka'a itti ijaarame Diibon, Ataarot, Aro'er,

³⁵ Atrot-Shofaan, Yaazer, Yogbehaa,

³⁶ Bet-Niimra'aa fi Bet-Haaraan deebisanees ijaaranees, hoole'ee fi re'ootaafille gooree ijaarane.

³⁷ Sanyiin Ruubenii qachoota: Heshiboon, Ele'aale, Kiriiyat-Aayim,

³⁸ qachoota maqaan isaanii jijjiirame Nebo'oo fi Ba'aal-Me'on, Siibmaalle deebisanees ijaarane. Isaan qachoota deebisanees ijaarane kana maqaa baasane.

³⁹ Sanyiin Maakiirii ilma Minaase'ee dhaqanee lafa Giil'aadii qabatanee, worra Amoorotaa ka achi jiranu ari'ane.

⁴⁰ Maarre Muuseen lafa Giil'aadii sanynii Maakiirii ilma Minaase'eetiif kennee, isaanille achi le'ane.

⁴¹ Sanyiin Minaase'ee Yaa'iir olloota isaanii qabatee, «Olloota Yaa'iirii» jedhee moggaase.

⁴² Nobaalle dhaqee Qenaatii fi olloota adaala isi'ii qabatee, «Nobaa» jedhee maqaa ifitiin moggaase.

33

Israa'elooti Biyya Gibxi'iitii Haga Mo'aabii Attam Akka Deemane

¹ Israa'elooti akka gosa gosa ifitiin Muuse'ee fi Aaroniin sooreffamaa biyya Gibxi'iitii yennaa bayane, addeen isaan itti quqqubataa ideemane asii gad jirti.

² Akkuma ajaja Mootii Waan Maraatiitti addeen isaan quqqubataa ideemane ta Muuseen barreessee asii gad jirti.

³ Kolbaan Israa'elii ji'a qaraa keessa, guyyaa kudhanii shaneesso'ootitti, Jila Irra Dabaramaatiin boruuyyaa, worri Gibxi'ii duudiin adoo isaan dhagganuu, gadhaa jabeennaan qachaa Raamsesiitii ka'anees deemane.

⁴ Yennaa san worri Gibxi'ii ilmaan ifii angafoota Mootiin Waan Maraa ijjeese awwaaliisatti jiraniyyu. Mootii Waan Maraa waaqota isaanii irralle'etti mureeraayyu.

⁵ Israa'elooti qachaa Raamsesiitii ka'anees Suukoot qabatane.

⁶ Suukootii ka'anees, cinaa goomole'ee Etaamii qubatane.

⁷ Etaamii ka'anees, Phiihahirot ta Baa'el-zefon irraa gara aduun baatu jirtutti gara duubaa deebi'anees, Miigdol fuula dura qubatane.

⁸ Phiihahirotii ka'anees, abbaayaa diintuu keessa dabaranees, gara goomolee taranees, karaa guyyaa sadii goomolee Etaamii keessaa deemanee Maaraa qubatane.

⁹ Maaraa ka'anees, addee maddi bisaanii kudhanii lamaa fi meexxiin torbaatam jirtu Eliim qubatane.

¹⁰ Eliimii ka'anees, abbaayaa diintuu* bira qubatane.

¹¹ Abbaayaa diintuu biraa ka'anees, goomolee Siinii keessa qubatane.

¹² Goomolee Siiniitii ka'anees Dofqaa qubatane.

¹³ Dofqa'aa ka'anees Aluushi qubatane.

¹⁴ Aluushii ka'anees, addee bisaan kolbaan untu hin jirre Refidiim qubatane.

¹⁵ Refidiimii ka'anees, goomolee Siina'aa keessa qubatane.

¹⁶ Goomolee Siina'aatii ka'anees, Kibrot-hataawaa qubatane.

¹⁷ Kibrot-hataawa'aa ka'anees Haseroot qubatane.

¹⁸ Haserootii ka'ane Riitmaa qubatane.

* **33:10** Abbaayaa diintuu: Afaan Ibrootaatiin abbaayaa allaadu'uu jedha.

- 19 Riitma'aa ka'anee Rimoon-Faares qubatane.
 20 Rimoon-Faaresii ka'anee Liibnaa qubatane.
 21 Liibna'aa ka'anee Riisaa qubatane.
 22 Risa'aa ka'anee Qehelaataa qubatane.
 23 Qehelaata'aa ka'anee gaara Shaaferii qubatane.
 24 Gaara Shaaferiitii ka'anee Haraadaa qubatane.
 25 Haraada'aa ka'anee Maqhelot qubatane.
 26 Maqhelotii ka'anee Taahaati qubatane.
 27 Taahaatii ka'anee Taaraa qubatane.
 28 Taara'aa ka'anee Miitqaa qubatane.
 29 Miitqa'aa ka'anee Haashmoonaa qubatane.
 30 Haashmoonaa'aa ka'anee Moserooti qubatane.
 31 Moserootii ka'anee Beneyaa'aakaan qubatane.
 32 Beneyaa'aakaanii ka'anee Hoor-Haagidgaadi qubatane.
 33 Hoor-Haagidgaadii ka'anee Yoxbaataa qubatane.
 34 Yoxbaata'aa ka'anee Abronaa qubatane.
 35 Abrona'aa ka'ane Eziyon-Geberi qubatane.
 36 Eziyon-Geberii ka'anee goomolee Ziinii keessa Qaadeshi qubatane.
 37 Qaadeshi ka'anee meessaa lafa Edoomii gaara Hoorii irra qubatane.
 38 Aaroniin hayyichi ajaja Mootii Waan Maraatiin gara gaara Hoorii ol baye; Israa'elooti biyya Gibxi'iitii bayaneen duuba woggaa afurtameesso'oo keessa, ji'a shaneesso'oo guyyaa qaraa achitti du'e.
 39 Aaron gaara Hoorii irratti yennaa du'e san woggaa isaa dhibba tokkoo fi diddamii sad.
 40 Mootichi Araadii Kana'aanichi, ka goomolee kibba kana'aanii keessa† le'u, dhufiisa Israa'elootaa dhage'e.
 41 Isaan gaara Hooriitii ka'anee Xalmonaa qubatane.
 42 Xalmona'aa ka'anee Fuunon qubatane.
 43 Fuunonii ka'anee Obooti qubatane.
 44 Obootii ka'anee meessaa Mo'aabii irra Iyye-Abaariim qubatane.
 45 Iyye-Abaariimii ka'anee Diibon-gaad qubatane.
 46 Diibon-gaadii ka'anee Almoon-diiblaataayimi qubatane.
 47 Almoon-diiblaataayimii ka'anee gaara Neboo fuula dura, gaarota Abaariimii irra qubatane.
 48 Gaarota Abaariimiitii ka'anee fuullee Yeriko'oo cinaa laga Yordaanosii dirree Mo'aabii keessa qubatane.
 49 Achi laga Yordaanosii bira dirree Mo'aabii keessa Bet-yeshiimoot irraa haga Abeel-shiixiimiititti qubatane.

Israa'elooti Yordaanos Gamatti Adoo Hin Bu'in Qajeelfama Kenname

50 Yerikoo fuula dura, laga Yordaanosii bira, dirree Mo'aabii keessa adoo jiranuu, Mootiin Waan Maraa Muuse'etti dubbatee,

51 «Ati kolbaa Israa'eliitiin, «Laga Yordaanosii gamatti buutane, gara lafa Kana'aanii yennaa seentanu,

52 nama lafa san irra jiru mara ifi duraa baasa'a; waaqota dharaa fakkii bocantee hujantee fi fakkii baqisiifantee hujante mara balleessa'a; addee waaqonfannaa isaaniille mara diiga'a.

53 Lafa san akka qabattanuu, ani waan isinii kenneeruuf, lafa san fudhadha'aatii keessa le'a'a.

† 33:40 Kibba Kana'aanii: Afaan Ibrootaatiin Negeb jedha.

⁵⁴ Akkuma fira fira keessaniititti lafa san hixa'aan qoodama'a; fira gudda'aaf, lafa guddoo, fira diqqa'aaf, lafa diqqoo kenna'a; nama tokko tokkoofuu akkuma hixaan isaaf bu'etti latti isaaf hin teeti; akkuma fira abbootii teessan ta duriititti lafa fudhadha'a.

⁵⁵ Worra lafa san keessa le'u ariitane yoo hin baasin ammoo, worri isin hamburtane sun, ila teessaniif akka fadhaanaa, cinaacha keessaniif akka qore'ee hin te'an. Lafa isin keessa leetanu mara keessatti isin hin rakkisan.

⁵⁶ Anille waan isaan irratti godhiisaaf yaadadhe, isin irratti hin godha» jedhiin» jedhe.

34

Meessaa Lafa Kana'aanii

¹ Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

² «Ati Israa'elootaan, «Lafa Kana'aanii ta ani isinii kennu sanitti yenna galtane, meessaan isi'ii:

³ Gara kibbaatiin goomolee Ziinii ta meessaa Edoomii jirtu irraa lafa diqqoo dabalata. Gara aduun baatuun, meessaan keessan ka gara kibbaa irga abbaayaa sooddaa irraa ka'a.

⁴ Achiin duuba gara Aqrabiimii ol qabatee gara kibbaa deebi'ee, Ziin keessa dabaree gara kibbaatiin haga Qaadesh-Barna'aa ti. Achiin duuba karaa Haazar Adaarii dhagee gara Azmoona'aa dabara.

⁵ Azmoon irraa ka'ee gara laga Gibxi'ii deebi'ee abbaayaa Mediteraaniya'aatitti hin dhaabbata.

⁶ «Meessaan keessan ka gara aduun seentuu abbaayaa Mediteraaniya'aa hin te'a. Kun meessaa keessan ka gara aduun seentuu ti.

⁷ «Meessaa keessan ka gara kaabaa abbaayaa Mediteraaniya'aatii haga gaara Hooriititti beessisa itti godhadha'a.

⁸ Gaara Hooriitii haga Leboo-Haamaatii ti; dhumii meessaa sanii Zadaad hin te'a.

⁹ Achille'ee haga Ziifronii dhagee Haazar Enaanitti dhaabbata. Kun meessaa keessan ka gara kaabaa ti.

¹⁰ «Meessaa keessan ka gara baya adu'uutiif, Haazar Enaan irraa haga Shefaamiititti beessisa itti godhadha'a.

¹¹ Meessaan kun Shefaamii ka'ee Aayin irraa gara baya adu'uutiin gara Riibla'aa gad bu'ee, haga goodda abbaayaa Kiineretii irraa gara baya adu'uu jirtuulle gad dhaqa.

¹² Achiin duuba meessaan keessan haga laga Yordaanosii gad bu'ee, abbaayaa sooddaatitti dhaabbata; meessaa isi'ii waliin, tun lafa teessan hin teeti» jedhiin» jedhe.

¹³ Muuseen Israa'eloota ajajee, «Lafa tana hixaa buufadha'aa qoodama; Mootiin Waan Maraa gosa sagalii fi gamisa gosa Minaase'eetiif akka kenatantu ajajeera;

¹⁴ sababille gosi Ruubeniitii fi gosi Gaadii, gamisi gosa Minaase'eelle akka maatii maatii ifititti lafa ifii fudhataneeran.

¹⁵ Gosi lamaan tunii fi gamsi gosa Minaase'ee, laga Yordaanosii irraa karaa aduun baatuun, Yeriko'oon gama karaa baya adu'uutiin lafa ifii fudhataaneeran» jedhe.

Sooressitoota Lafa Qoodiisaaf Filamane

¹⁶ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

¹⁷ «Maqaan namoota lafa isiniif qoodanuu: hayyicha Ele'azaarii fi Iyaasuu ilma Nunii ti.

¹⁸ Lafa goodiisaaf akka qarqaaranu gosa mara keessaa sooressa tokko tokko fila'a.

¹⁹ Maqaan isaanii:

gosa Yihuda'aa keessaa,

ilma Yofune'ee Kaaleb;

²⁰ gosa Shimi'oonii keessaa ilma Amiihudii Shemu'el;

²¹ gosa Beniyaaminii keessaa,

ilma Kiislonii Eliidaad;

²² gosa Daanii keessaa sooressa tokko,

ilma Yogliitii Buki;

²³ gosa Minaasee ilma Yoseefii keessaa sooressa tokko,

ilma Efodii Haanii'el;

²⁴ gosa Efreemii ilma Yoseefii sooressa tokko,

ilma Shiiftaanii Kemu'el;

²⁵ gosa Zebuloonii keessaa sooressa tokko,

ilma Phaarnaakii Eliizaafaan;

²⁶ gosa Yisaakorii keessaa sooressa tokko,

ilma Azaanii Phaalti'el;

²⁷ gosa Asheerii keessaa sooressa tokko,

ilma Shelomii Ahiihud;

²⁸ gosa Naftaalemii keessaa sooressa tokko,

ilma Amiihudii Phedaahel» jedhe.

²⁹ Lafa Kana'aanii keessatti akka lafa Israa'elootaaf goodanu namooti Mootiin Waan Maraa ajaje isaan kana.

35

Qachoota Lewwootaaf Kenname

¹ Yerikoo fuula dura, laga Yordaanosiitiin gama, dirree Mo'aabii keessatti Mootiin Waan Maraa Muuse'een,

² «Lafa fudhatanu irraa, Lewwootaaf qachoota keessa le'anuu akka kennanuu, Israa'eloota ajaji; adaala qachootaatille'etti lafa horii itti tiffatanu isaaniif kenni.

³ Achiin duuba isaan qachoota keessa le'anuu fi lafa loon ifii, hoole'ee fi re'ee ifii itti tiffatanu hin qabaatan.

⁴ Latti horii itti tiffatanu adaala qacha'aatitti ta isin Lewwootaaf kennitanu, dalleya qachootaa irraa kaatee gara alaatitti ciqilee kuma tokko teetuu ti.

⁵ Qachoota wodhakka'atti hambura'aatii, karaa baya adu'uutiin ciqilee kuma lama, karaa kibbaatiin ciqilee kuma lama, karaa seensa adu'uutii ciqilee kuma lama, karaa kaabaatiin ciqilee kuma lama dhowa'a. Lafa tana horii qachoota keessaa addee itti tiffattanuu hin godhatan.

Qachoota Itti Baqatanu

⁶ «Qachoota isin Lewwootaaf kennitanu keessaa qachooti jaa qachoota nami nama ijjeese itti baqatu hin te'an. Itti dabala'aatii qachoota afurtamii lama isaaniif kenna'a.

⁷ Wolumatti qachoota afurtamii saddeeti, lafa horiin itti tiffatanu woliin Lewwootaaf kenna'a.

⁸ Lafa Israa'elooti dhaalte keessaa akkuma gosi tokko tokkooyyuu gooda qaddutti gosa qachoota hedduu qaddu irraa qachoota hedduu, gosa qachoota diqqaa qaddu irraa qachoota diqqaa fuudha'aatii Lewwootaaf kenna'a» jedhe.

- ⁹ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een,
¹⁰ «Ati Israa'elootatti dubbadhuutii, isaaniin, «Laga Yordaanosii gamatti buutanee, gara lafa Kana'aanii yennaa seentanu,
¹¹ Qachoota nami danu'uun nama ijjeese itti baqatu filadha'a.
¹² Qachooti sun nami nama ijjeese mura'aaf wolde'a dura adoo hin dhaab-batin akka hin ijjeefanne, nama haluu bayu duraa addee itti baqatu hin te'an.
¹³ Qachoota isin Lewwootaaf kennitanu keessaa, qachooti jaa ka isin itti baqattanu hin te'an.
¹⁴ Laga Yordaanosii irraa karaa baya adu'uutiin Qachoota sad, lafa Kana'aanii keessaa qachoota sad qachoota nami itti baqatu kenna'aaf.
¹⁵ Qachooti jaan kun isin Israa'eloota keessaa, alaga'aa fi kolbaa odduu teessan leetu ta dhibii mara keessalle'ee, nama danu'uun nama ijjeeseef addee itti baqattanu hin te'an.
¹⁶ « «Nami tokko meya sibiilaatiin nama tokko dhowee nami sun yoo du'e, nami sun nama nama ijjeese; nami nama ijjeese sun ijjeefamuu ti.
¹⁷ Yookiin nami tokko dhakaa nama ijjeesuu dande'u harkaa qabaatee, nama tokko dhowee yoo ijjeese, nami sun nama dhiigaa ti; nami nama ijjeese sun ijjeefamuu ti.
¹⁸ Yookiin nami tokko muka nama ittiin dhowee ijjeesuu dande'u harkaa qabaatee, nama tokko dhowee yoo ijjeese, nami sun nama nama ijjeese; nami nama ijjeese sun ijjeefamuu ti.
¹⁹ Nami haluu bayiisaaf barbaadu nama nama ijjeese san ijjeesuu ti; yennaa isa dhagge ijjeesuu ti.
²⁰ Nami tokko beekaa nama dhibii jibbee darbee yookiin waan tokko itti darbatee yoo ijjeese,
²¹ yookiin jibbee harka ifitiin dhowee nami sun yoo du'e, inni ijjeefamuu ti; nami sun nama dhiigaa ti; nami haluu bayiisaaf barbaadu yennaa nama nama ijjeese san dhagge ijjeesuu ti.
²² « «Te'uu malee, nami tokko diinummaa adoo irraa hin qabaatin ded-huma nama dhibii darbee yookiin waan tokko itti darbatee yoo ijjeese,
²³ yookiin adoo isa hin dhaggin, dhakaa nama ijjeesuu dande'u itti darba-tee nami sun yoo du'e, inni diina isaa waan hin te'iniif, isa miidhiisaafille beekaa waan hin godhiniif,
²⁴ wodhakkaa nama nama ijjeeseetii fi nama haluu bayuutitti akka seerata kanaatitti wolde'i mura kennu mura kennuu ti.
²⁵ Wolde'i sun nama nama ijjeese himatame san nama haluu bayiisaaf barbaadu san irraa dhooggee, gara qachaa inni itti baqatee san isa deebisuu ti. Hayyichi guddaan zayitii woyyitti'in muudame sun haga du'utti inni achi turuu qaba.
²⁶ Te'uu malee, nami nama ijjeese himatame sun meessaa qachaa itti baqate san keessaa alatti yoo baye,
²⁷ nami haluu bayiisaaf barbaadu sun meessaa qachaa saniitiin alatti dhaggee yoo isa ijjeese, yakkaa nama ijjeecha'aatiin hin himatamu.
²⁸ Nami nama ijjeese sun haga hayyichi guddaan sun du'utti qachaa ifii ka itti baqate san keessa turuu qaba; eega hayyichi guddaan sun du'e qofa gara lafa ifii deebi'a.
²⁹ Addee leetanu maratti, dhaloota dhufu mara keessatti kun seerata isiniif te'uu ti.
³⁰ « «Nami nama ijjeese yoo dhugaa irratti bayane qofa ijjeefama; te'uu malee dhugaa baya nama tokkoo qofaan nami tokkolle hin ijjeefamin.
³¹ Nami duuti itti murante, ijjeefamuu ti malee, wadoo isaa hin fud-hatina'a; nami sun dhugumaan ijjeefamuu qaba.

³² Nama gara qachaa itti baqatanuu baqate tokko adoo hayyichi guddaan hin du'in akka inni gara lafa ifii deebi'ee le'uuf wodoo irraa hin fudhatina'a.

³³ Dhiigi waan lafa batteessuuf, lafa keessa leetanu dhiigaan hin batteessina'a! Dhiiga nama dhiiga dhangalaaseetiin malee, dhiigi nama dhibi'ii dhangalaafamee lafa saniif gumaan hin tolfamin.

³⁴ Ani Mootiin Waan Maraa isin Israa'eloota odduu waan buluuf, lafa keessa leetanuu fi addee anille bulu hin batteessina'a! » jedhi » jedhe.

36

Dhaala Durra Zelofehaadii

¹ Sooressitooti fira Giil'aadii ilma Maakiirii, akaakoti Minaase'ee ta fira sanyii Yoseefii gara Muuse'eetii fi gara sooressitoota kolba'aa, gara sooresitoota maatii Israa'elootaa dhufanee,

² «Mootiin Waan Maraa akka ati Israa'elootaaf hixaa buuttee lafa qooddu si gootaa keenaa yennaa ajaje, lafa obboleessa keenaa Zelofehaadii durra isaatiif akka kennitu si ajajeera.

³ Durri tun ammoo ilmaan gosa Israa'eloota dhibi'ii yoo heerumane, latti isaanii lafa abbootii teenna ta durii irraa fudhatantee gara gosa isaan itti heerumanee san hin dabarti. Yoo akkas teete qoodi lafa hixa'aan nu'uuf kenname nu duraa hin fudhatama.

⁴ Yennaa jilti woggaa shantameesso'oo ta Israa'elootaa dhuttu, latti isaanii lafa abbootii teenna ta durii irraa fudhatantee, gara lafa gosa isaan itti heerumanee hin dabalanti » jedhane.

⁵ Achiin duuba Muuseen akkuma Mootiin Waan Maraa isatti dubbate Israa'eloota ajajee, «Wonni gosi sanyii Yoseefii jettu dhuga'a;

⁶ Marroo durra Zelofehaadiitiif wonni Mootiin Waan Maraa ajaje ka asii gad jiru: Kunille, «Eega nama fira gosa abbaa isaanii te'ee, isaan nama ila isaaniititti tole heerumanuu ti.

⁷ Israa'elooti marti lafa abbootii ifii irraa fudhatane jabeeffatanee waan qabatanuuf latti Israa'elootaa gosa tokko irraa gara gosa dhibi'iititti hin dabartu.

⁸ Israa'elooti marti lafa abbootii ifii waan dhaluu qabanuuf, durri gosa Israa'elii keessaa lafa qabanu marti gosa abbaa ifii keessaa nama tokko heerumanuu ti.

⁹ Israa'elooti marti lafa ifii jabeeffatanee waan qabatanuuf, latti gosa tokko irraa gara gosa dhibi'iititti hin dabartu » jedheera » jedhe.

¹⁰ Maarre durri Zelofehaadii akkuma Mootiin Waan Maraa Muusee ajaje godhane.

¹¹ Durri Zelofehaadii Maahilaa, Tiirzaa, Hoglaa, Miilka'aa fi No'aa. Isaan ilmaan obboleeyyan abbaa ifii heerumane.

¹² Isaan fira sanyii Minaasee ilma Yoseefii heerumane; latti isaaniille firaa fi gosuma abbaa isaaniitiif hatte.

¹³ Fuullee Yeriko'oo, laga Yordaanosiitiin gama, dirree Mo'aabii keessatti ajajii fi seerati Mootiin Waan Maraa karaa Muuse'eetiin Israa'elootaaf kenne isaan kana.

Kitaaba Seera Keessa Deebii Seensa

Kitaab Seera Keessa Deebi'ii kolbaan Israa'elii yennaa hedduu goomolee keessa deenteen duuba, biyya Kana'aanotaa seeniisaaf diqquma hafanee, biyya Mo'aabii keessa yennaa turane, dubbii Muuseen itti xiyyeeffatee isaanitti dubbate ka qabateeru.

Kitaaba Seera Keessa Deebi'ii keessatti waan guddoo barbaachisaa te'anee galmeeffamaneeranu keessaa gariin ka asii gad jiranu:

1. Muuseen woggoota afurtama dabarane keessatti marroo waan gugurdoo muummeffamane qaabatiisaan dubbata. Inni goomolee keessatti Waaqi kolbaa attam akka sooresse qaabachiisiisaan, isaan Waaqaaf akka addatamanuu fi qajeelumma'aan akka isaaf ajajamanu isaan yaadachiisa.
2. Muuseen ajajoota kudhan irra deebi'ee, keessattuu marroo ajaja qaraa diidessee dubbataa, kolbaan Mootii Waan Maraa qofa akka waaqonfattu yaadachiisa. Achiin duuba Israa'elooti lafa isaaniif kennamiisaaf waadaa galame keessatti seera adda addaa ka ittiin bultu irra deebi'ee diidessa.
3. Muuseen Gondooroon Waaqi isaan woliin gale ta attamii akka teete isaaniif hiikee, kolbaan Gondooroo tanaaf addatamummaa ifii akka haareffatanu qaabachiisa.
4. Iyaasuun addee Muuse'etitti sooreessa te'ee muudama. Muuseen marroo addatamummaa Waaqaa faarfatee gosa Israa'elii mara eebbiseen duuba, lafa Mo'aabii ta laga Yordaanosii irraa gara aduun baatu jirtutti du'a.

Yaad guddaan kitaaba kanaa Waaqi kolbaa isaaf filatante ta jaalatu akka baasee fi akka eebbise dubbata. Kolbaan eebbi Waaqaa adoo isaan irraa hin hafin akka le'uu dandeettuu fi waan Waaqi isaaniif godhe duudii qaabataa yennaa mara Waaqa akka jaalattuu fi isaaf akka ajajantu isaan yaadachiisa.

Kitaaba kana keessatti laakkossi Yaada guddaa qabu 6:4-6 irra ka jiranu ka Yesuus: Ajajoota mara keessaa ka caalu, «Mootii Waan Maraa Waaqa keeti gadhaa keeti tokkochaan, lubbuu teeti takkatti'in, hunna teeti takkatti'in jaaladhu» jedhee dubbate ka qabateeru.

Haadhoo Dubbi'ii

Dubbii Muuse'ee Ta Qaraa1:1–4:49

Dubbii Muuse'ee Ta lammeesso'oo5:1–26:19

Ajajoota kudhan5:1–10:22

Seera, Seera ittiin Bulmaataatii fi ifi eeggachiisa11:1–26:19

Qajeelfama biyya Kana'aanii Seeniiisaaf kenname27:1–28:68

Haareffamiisa Gondooro'oo29:1–30:20

Dubbii Muuse'ee Ta dhumaa31:1–33:29

Du'a Muuse'ee34:1-12

Gaara Siina'aatii Akka Deemanuuf Qajeelfama Kenname

¹ Dubbiin Muuseen lafa Yordaanosii karaa aduun baatu jirtu goomolee Arabaayii keessatti fuullee Suufiititti, Phaaraanii fi Tofel wodhakkaa, Laabaan, Haserootii fi Diizaahabitti Israa'elootatti dubbate ta asii gad jirtu:

² Karaa gaara Se'iiriitiin gaara Siina'aa irraa haga Qaadesh-Barne'aatitti, karaa guyyaa kudhanii tokkoo ti.

³ Israa'elooti biyya Gibxi'iitii baatee woggaa afurtameesso'ootitti, ji'a kudhanii tokkeesso'oo, guyyaa tokkeesso'ootitti, Muuseen waan Mootiin Waan Maraa marroo isaanii isa ajaje mara Israa'elootatti hime.

⁴ Tun eega inni mooticha Amoorotaa Sihoon ka Heshiboon keessa tee'ee bulchuu fi mooticha Baashaanii Oog ka Ashitaaroti keessa tee'ee bulchu Edraayitti injifateen duuba teete.

⁵ Muuseen lafa Mo'aabii ta laga Yordaanosii irraa karaa aduun baatu jirtu keessatti seera Waaqaa barsiisiisa jalqabee,

⁶ Mootiin Waan Maraa Waaqi keenna gaara Siina'aa irratti nu'uun, «Kunoo isin, gaara kana gubbaa yennaa dheertuu turtaneertan.

⁷ Amma asii ka'a'aatii gara biyya koobittii Amoorotaa, gara kolbaa ollaa isaanii ta Arabaayi keessaa mara, gara lafa gaaraa, gara lafa koobota jalaa ta gara aduun seentuu, gara goomolee kibba kana'aanii*, ta irga abbaayaa Mediteraaniya'aa gara lafa kana'aanotaa, gara Libaanonii haga Efraaxiisii laga guddichaatitti deema'a.

⁸ Kunoo, ani Mootiin Waan Maraa, lafa ani abbootii teessan ta durii Abrahaam, Yisihag, Yaaqoobii fi sanyii isaanii kenniisaaf waadaa gale, isiniif kenneera; dhaga'aatii qabadha'a» jedheera.

Filamiisa Abbootii Mura'aa (Bay. 18:13-27)

⁹ Ani yennaa san, isiniin, «Isin natti ba'aa guddoo ulfaattuu ta ani qofii tiyya ba'atiisa hin dandeenne.

¹⁰ Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan laakkossa dabalee, kunoo, isin adha akka urjii gubba'aa bacattaneertan.

¹¹ Mootiin Waan Maraa Waaqi abbootii teessanii akkuma waadaa isiniif galetti, yennaa kuma laakkossa keessan dabalee, isin eebbisuu ti!

¹² Te'uu malee ani attamiin qofii tiyya rakkoo teessan, ba'aa teessanii fi moromaa teessan ba'atiisa dande'a ree?

¹³ Isin namoota qaroollee, hubanti'ii fi ulfinna qabanu gosa teessan fila'a; anille akka isaan sooressitoota teessan te'anu hin godha» jennaan,

¹⁴ isin deebittanee, «Yaad ati dhikeessite dansa'a» naan jettane.

¹⁵ Tanaaf sooressitoota gosa teessanii worra qaroo ulfinna qabanu san fuudhee, gosa gosa teessan irratti ajajjoota kumaa, ajajjoota dhibbaa, ajajjoota shantamaatii fi qondaaltota kudhanii godhe.

¹⁶ Ani yennaa san abbootii mura'aa teessan ajajee «Moromaa kolbaa teessan wodhakka'atti kaatu yookiin nama Israa'elii tokkoo fi alagaa wodhakka'atti kaatu ilaala'aatii, mura'aa dhuga'aa kenna'a.

¹⁷ Mura'aa kennitanu irratti hin golina'a; nama gudda'aa fi nama diqqaalle wol qixa ilaala'a. Muraan ta Waaqaa waan teeteef, nama tokkolle hin sodaatina'a. Waan guddoo isinitti ulfaate natti fida'a, ani hin ilaala» jedhe.

¹⁸ Ani yennaa san waan isin godhuu qaddanu mara isinitti himeera.

Worri Dooyu Ergame

¹⁹ Achiin duuba nuuti akkuma Mootiin Waan Maraa Waaqi keenna nu ajajetti gaara Siinaatii kaanee, akkuma dhaggitane, goomolee badho'oo fi sodaachittuu keessa karaa biyya koobittii Amoorotaatiin, gara biyya Qaadesh-Barne'aa dhandhe.

²⁰ Achiin duuba ani isiniin, «Isin biyya koobittii Amoorotaa, ta Mootiin Waan Maraa Waaqi keenna nu'uuf kennu geettaneertan.

* **1:7** Kibba Kana'aanii: Afaan Ibrootaatiin Negeb jedha.

²¹ Kunoo, Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan lafa tana isiniif kenneera. Akkuma Mootiin Waan Maraa Waaqi abbootii teessanii isinitti hime ol baya'aatii qabadha'a. Hin sodaatina'a; addii hin kutatina'a» jedhe.

²² Achiin duuba isin marti gara kiyya dhuttanee, «Gara biyya sanii dhaqanee akka dooyanu dursinee namoota erginuu ti; isaan karaa achi nu geessuu fi qachoota itti dhaqaarru dooyanee deebi'anee nutti himanuu ti» jettane.

²³ Yaad kun dansaa natti fakkaannaan, anille gosa tokko tokko keessaa, nama tokko tokko namoota kudhanii lama file.

²⁴ Isaanille gara biyya koobitti'ii ol bayanee haga dhooqa Eshikolii deemanee dooyane.

²⁵ Midhaan lafa sanii keessaa garii fidanee dhufanee, «Latti Mootiin Waan Maraa Waaqi keenna nuu kennaaru lafa dansa'a» jedhanee nutti himane.

²⁶ Isin ajaja Mootii Waan Maraa Waaqa keessanii mormitanee finqiltane malee, gara lafa sanii ol bayiisa hin jaalanne.

²⁷ Isin dunkaanii teessan keessatti gunguntanee, «Mootiin Waan Maraa nu jibbee, worri Amoorotaa akka nu balleessuuf, harka isaaniititti dabarsee nu kenniisaaf biyya Gibxi'ii keessaa nu baase.

²⁸ Nuuti eessa dhaquu dandeenna ree? Namooti nuuti ergine, «Namooti achi jiru nu caalaa worra jajjaba'aa fi worra dhedheera'a; qachootille gugurda'a; dalleenni dhaka'aa ka qachoota saniille haga ol-gubba'aa dheerata; sanyii Aanaaqotaalle achitti dhaggineerra» jedhanee nu sodaachisaaneera» jettane.

²⁹ Achiin duuba ani isiniin, «Hin bararaqina'a. Isaan hin sodaatina'a.

³⁰ Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan ka isin dura deemu, biyya Gibxi'ii keessatti ila teessan duratti akkuma isiniif tolche, isiniif hin lola.

³¹ Isin goomolee keessa haga addee tana geettanutti karaa dhaxxane mara irratti, akka abbaan ilma ifii ba'atu, Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan attam akka isin ba'ate achitti dhaggitaneertan» jedhe.

³² Tun teetulle, isin Mootii Waan Maraa Waaqa keessanitti hin addanne.

³³ Inni ideensa keessan irratti addee isin itti qubattanuu isiniif barbaadiisaaf, karaa isin deemuu qaddanulle isinitti mudhisiisaaf halkan ibiddaan, guyyaa duumensaan isiniin dura deemeera.

³⁴ Mootiin Waan Maraa dubbii teessan tana yennaa dhage'e aaree, kakaatee,

³⁵ «Dhaloota hamaa kana keessaa nami tokkolle lafa dansaa ani abbootii teessanii kenniisaaf waadaa gale san hin dhaggu.

³⁶ Ilma Yofune'ee Kaaleb malee, nami lafa san dhaggu hin jiru; inni lafa san hin dhagga; inni gadhaa tokkochaan ana Mootii Waan Maraa waan hordofeef, ani lafa inni miila ifitiin irra ijate mara isaaf, sanyii isaatiifille hin kenna» jedhe.

³⁷ Mootiin Waan Maraalle sababa keessaniif natti aaree, «Atille achi hin galu.

³⁸ Iyaasuun ilmi Nunii qarqaaraan keeti ammoo gara lafa sanii hin gala; inni kolbaan Israa'elii lafa san akka dhaaltu waan godhuuf, ati isa jajjabeessi.

³⁹ «Ijoollaan teessan ta isin: Hin booji'anti jettane, ta waan hantu'uu fi dansaa gargar baasane hin beenne lafa sanitti hin galti; ani lafa san isaaniif hin kenna; isaanille hin qabatan.

⁴⁰ Isin ammoo deebi'aatii, karaa gara abbaayaa diintu'uu geessuun gara goomole'ee deema'a» jedhe.

⁴¹ Achiin duuba isin deebittanee, «Nuuti Mootii Waan Maraa yakkeerra. Akkuma Mootiin Waan Maraa Waaqi keenna nu ajajetti ol baanee hin lolla»

anaan jettane; lafa koobitti'itti ol bayanee loliis kasoo isinitti fakkaattee, tokko tokkoon keessan meya woraanaa hidhatane.

⁴² Mootiin Waan Maraa ammoo, «Ani isin woliin waan hin jiraanneef, «Ol baatanee hin lolina'a. Diinoti keessan isin hin injifatan» jedhii isaanitti himi!» anaan jedhe.

⁴³ Maarre ani isinitti himeera; isin ammoo hin caqanne. Isin ajaja Mootii Waan Maraa finqiltanee mormiisaan koora keessaniin gara biyya koobitti'ii ol duultane.

⁴⁴ Worri Amoorotaa ka lafa koobittii san keessa le'anuu gad bayanee isin lolanee akka tuuta kinniisaa isin ari'ane; Se'iirii haga Hormaatitti isin ari'ane ijjeesane.

⁴⁵ Isinille deebitanee Mootii Waan Maraa duratti boottane; inni ammoo bowa teessan hin caqanne; gurra ifille gara keessan hin deebifanne.

⁴⁶ Tanaaf isin yennaa hedduu Qaadesh turtane.

2

Israa'el Goomolee Keessa Joonjite

¹ Achiin duuba nuuti garagallee, akkuma Mootiin Waan Maraa na ajajetti, goomolee keessa karaa abbaayaa diintuu geessuun dhandhee, adaala biyya koobittii Se'iirii guyyaa hedduu joonjine.

² Achiin duuba Mootiin Waan Maraa anaan,

³ «Isin yennaa dheertuu adaala biyya koobitti'ii tana joonjitaneertan; amma gara kaabaa deebi'a'a.

⁴ Ati kolbaa tana ajajiitii, «Isin biyya obboleeyyan teessanii ta sanyiin Esaawuu keessa leetu, Se'iir keessa dabartan; isaan isin hin sodaatan; isin ammoo guddoo ifi eeggadha'a.

⁵ Ani biyya koobittii Se'iir qabeenna isaa godhee Esaawuuf kenneera. Biyya isaanii irraa ijata tokkolle isiniif waan hin kenneef isin woraanaaf isaan hin kakkaasina'a.

⁶ Sagalee nyaattanuu fi bisaan untanuuf beesee isaaniif kaffala'a» jedhiin» jedhe.

⁷ Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan hujii isin hujjanu maraan isin eebbiseera. Inni goomolee badhoo tana keessa yennaa ideentanuu isin eegeera; woggoota afurtama tana Mootiin Waan Maraa Waaqi isin woliin waan jiruuf, isin waan tokkolle hin dhanne.

⁸ Maarre nuuti obboleeyyan teenna sanyiin Esaawuu ta biyya koobittii Se'iir keessa leetu keessa dabarree, karaa goomolee Arabaayii ta karaa qachaa Elaatii fi Eziyon-Geberii dhufu irraa gorree, karaa goomolee Mo'aabii ideenne.

⁹ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa anaan, «Ani qachaa Aarii worra Mo'aabii sanyii Looxiitiif qabeenna isaanii godhee isaaniif kenneera. Lafa isaanii irraa tokkolle isiniif waan hin kennineef, isaan hin rakkisina'a yookiin woraanaaf isaan hin kakkaasina'a» jedhe.

¹⁰ Worri Emiimii dur qachaa Aarii keessa le'aniyyu; isaan kolbaa jajjaduu bindillaa, akka worra Aanaaqotaa hojjaa dhedheeratanu.

¹¹ Isaan akkuma worra Aanaaqotaa, «Refaa'ota» jedhamanee waamaman; Mo'aabotii ammoo, «Emiimota» isaaniin jedhan.

¹² Worri Hoorii dur biyya Se'iirii keessa le'aniyyu; sanyiin Esaawuu ammoo achi keessaa ariitee isaan baache. Akkuma Israa'el lafa Mootiin Waan Maraa isi'ii kenne keessatti goote, sanyiin Esaawuu worra Hoorii ifi duraa ariitee addee isaaniititti qubatte.

¹³ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa, «Amma ka'a'aatii laga Zerediitiin gamatti bu'a'a» jedhe. Maarre nuutille laga Zerediitiin gamatti buune.

¹⁴ Nuuti Qaadesh-Barne'aa kaanee laga Zerediitiin gamatti haga buunutti, woggaa soddonii saddeetitti dabare. Yennaa san keessa akkuma Mootiin Waan Maraa marroo isaaniitiif kakate, loltooti dhaloota sanii marti addee quttumaa keessaa dhumatane.

¹⁵ Addee quttumaa san keessaa ijjumaa haga isaan balleessutti harki Mootii Waan Maraa isaanitti ka'e.

¹⁶ Worri loltootaa ka odduu kolba'aa sun marti yennaa dhumatane,

¹⁷ Mootiin Waan Maraa anaan,

¹⁸ «Isin adha karaa biyya Mo'aabiitiin qachaa Aarii keessa hin dabartan.

¹⁹ Ani duruu lafa san qabeenna isaanii godhee Amoonota sanyii Looxiitiif kenneera. Isin gara lafa Amoonotaa yennaa dhuttane, lafa sanyii Amoonii irraa tokkole qabeenna akka godhattanu isiniif waan hin kennineef, isaan hin rakkisina'a yookiin woraanaaf isaan hin kakkaasina'a» jedhe.

²⁰ Worri Refaa'otaa dur waan achi le'aneef, latti tun akka lafa Refaa'otaatitti laakkowante; worri Amoonotaa ammoo, «Zamzumoota» jedhane isaan waaman.

²¹ Zamzumooti kolbaa jajjadduu bindillaa, akka worra Aanaaqotaa hojjaa dhedheerattu. Mootiin Waan Maraa ammoo worra Amoonotaa duraa isaan balleessee, Amoonoti isaan ari'anee addee isaaniititti qubatane.

²² Mootiin Waan Maraa yennaa worra Hoorii isaan duraa balleessee, sanyii Esaawuu ta biyya koobittii Se'iir keessa leetuufille akkasuma godhe; isaan worra Hoorii ari'anee baasane, haga adhaatitti lafa isaanii keessa le'iisatti jiran.

²³ Worri Kaftorii ka Kaftor irraa dhufe, worra Aawotaa ka olloota haga Gaaza'aa jiranu keessa le'anuu balleessanee, lafa isaanii keessa qubatane.

Mootiin Heshiboonii Sihoonii Injifatame

²⁴ Ammalle Mootiin Waan Maraa, «Amma ka'a'aatii laga Aarnoniitiin gamatti bu'a'a. Kunoo, ani nama biyya Aamorii mootii Heshiboonii Sihoon, biyya isaalle harka keessanitti dabarsee kenneera. Isa lola'aatii, lafa isaa fudhatiisaaf jalqaba'a.

²⁵ Ani guyyaa adhaa kanaan jalqabee gosi biyya adda addaa ta biyya lafaa gubbaa jirtu marti akka bararaxxee isin sodaattu hin godha. Isaan gurra keessan dhage'anee rommanee hin muddaman» jedhe.

²⁶ Achiin duuba ani Muuseen goomolee Qedemootii keessaa mootii Heshiboonii Sihoonitti namoota ergee nageya itti dhaamee,

²⁷ «Biyya teeti keessa dabarree akka deennu nuu eeyyami; nuuti karaa irraa middatti yookiin bita'atti hin gorru.

²⁸ Sagalee nyaannuu fi bisaan unnu beese'een nutti gurgura'a. Miiluma calla'aan achi keessa akka dabarru,

²⁹ akkuma sanyiin Esaawuu worri Se'iir keessa le'uu fi Mo'aaboti Aar keessa le'anuu nu'uuf godhane, laga Yordaanosii gamatti buunee, gara lafa Mootiin Waan Maraa Waaqi keenna nuu kennuu haga gallutti atille akka-suma nuu godhi» jedheen.

³⁰ Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan ammoo, mootii Heshiboonii Sihoon akka amma godhe kana harka keessanitti dabarsee kenniisaaf, mataa isaa jabeessee akka inni hin ajajane waan godheef, inni biyya isaa keessa nu dabarsuu didate.

³¹ Mootiin Waan Maraa anaan, «Kunoo, ani Sihoonii mootichaa fi biyya isaa dabarsee isinii kennuu jalqabeera; amma lafa isaa qabadha'aatii teessan godhadha'a» jedhe.

³² Sihooniin mootichii fi loltooti isaa marti nu loliisaaf gara qachaa Yaa-hazii yennaa dhufane,

³³ Mootiin Waan Maraa Waaqi keenna isa harka keennatti dabarsee waan kenneef, nuuti isa, ilmaan isaatii fi loltoota isaa mara ijjeenne.

³⁴ Nuuti yennaa san qachaa isaa duudii qabannee, namoota qachaa san keessa jiranu dhiira, dubarti'ii fi ijoollee tokkolle adoo hin hamburin isaan ijjumaa balleessine.

³⁵ Wonni nuuti fudhanne hori'ii fi waan qachaa san keessaa boojine qofa.

³⁶ Qachaa Aro'erii ka qarqara dhooqa Aarnonii jiruu fi qachaa dhooqa san keessa jiruu jalqannee haga Giil'aadiititti qachaan dalleenni isaa ka dhaka'aa nutti jabaatee hafe tokkolle hin jiru. Mootiin Waan Maraa Waaqi keenna isaan mara harka keennatti dabarsee kenne.

³⁷ Te'uu malee akkuma Mootiin Waan Maraa Waaqi keenna nu ajajetti gara lafa Amoonotaa yookiin qarqara lafa laga Yaaboqii yookiin adaala qachoota lafa koobittii keessaa mara itti hin dhikaanne.

3

Mootiin Baashaanii Oog Injifatame (Lak. 21:31-35)

¹ Tanaan duuba karaa gara Baashaanii geessutti deebinee ol baane; mootiin Baashaanii Oog loltoota ifii mara woliin Edraayitti nu loliisaaf dhufe.

² Mootiin Waan Maraa ammoo anaan, «Ani isa, loltoota isaa maraa fi lafa isaa dabarsee si'iif waan kennuuf, isa hin sodaatin. Mootii Amoorotaa Sihoon ka qachaa Heshiboonii keessa tee'ee bulchaa ture akkuma goote, Oogille akkasuma godhi» jedhe.

³ Maarre Mootiin Waan Maraa Waaqi keenna mootii Baashaanii Oogii fi kolbaa isaa harka keennatti dabarsee kenne; nuutille nama tokkolle adoo hin hamburin isaan mara ijjeenne.

⁴ Yennuma san nuuti qachoota isaa mara qabanne; qachoota jaatama naannoo Argoobii duudii, ka mootummaa Oogii ta Baashaan keessa jirtu keessaa qachooti nuuti hin qabatin tokkolle hin jiru.

⁵ Qachooti kun marti dalleya dhaka'aa dhedheeraa, karraa fi danqaraa qabanuun marfamaneeran; ollaan gugurdaan hedduun dalleya dhaka'aa hin qannelle jiraayyu.

⁶ Akkuma mootii Heshiboonii Sihoon goone, isaan ijjumaa balleessine; dhiira, dubarti'ii fi ijoollee qachaa sanii ijjumaa balleessine.

⁷ Te'uu malee horii maraa fi waan qachoota isaanii keessaa saanne mara ifiif fudhanne.

⁸ Maarre yennaa san mootota Amoorotaa lamaan san irraa lafa laga Yordaanosiin gara aduun baatuu jirtu, laga Aarnoniitii haga gaara Hermoonii qabanne.

⁹ Worri Sidoonii gaara Hermooniitiin «Siiriyon» jedha; worri Amoorotaa «Seniir» jedha.

¹⁰ Nuuti qachoota gooroo irraa, lafa Giil'aadii mara, lafa Baashaanii mara haga Saalka'aa fi Edraayii, qachoota mootummaa Oogii ka Baashaan keessaa mara fudhanne.

¹¹ Worra Refaa'otaa keessaa ka hafe Oogii mooticha Baashaanii qofa; taqeen isaa ta sibiilaa ti; dheerinni isi'ii meetira afur, badhinni meetira lama. Taqeen sun haga ammaatitti Raabaa qachaa biyya Amoonii keessa jirti.

Gosoota Yordaanos Gara Aduun Baatutti Qubatte

¹² Lafa qabanneen duuba qachaa Aro'erii ka laga Aarnonii bira jiruutiin jalqabee haga gamisa biyya koobittii Giil'aadii qachoota isaa woliin gosa Ruubeniitii fi gosa Gaadiitiif kenne.

¹³ Biyya Giil'aadii ta hatte, biyya Argoobii ta Oog bulche biyya Baashaanii mara gamisa gosa Minaase'eetiif kenne. Biyyi Baashaanii guutumatti biyya Refaa'otaa jedhamaa turte

¹⁴ Sanyiin Minaase'ee Yaa'iir biyya Argoobii ta haga meessaa worra Geshu-urotaatii fi Ma'akaatotaa jirtu duudii fudhate. Inni ollooti sun maqaa isaatiin akka waamamanu godhe; tanaaf ollooti sun haga adhaatitti olloota Yaa'iirii jedhaman.

¹⁵ Ani Giil'aadi maakiiriif kennee,

¹⁶ gosa Ruubeniitii fi Gaadiitiif ammoo, lafa Giil'aadii irraa haga lafa laga qarqara laga Aarnonii kenneef; meessaan isaanii ka kibbaa wodhakkaa laga Aarnonii yoo te'u, gara kaabaatiin haga laga Yaaboqii meessaa Amoonotaa ti.

¹⁷ Karaa aduun seentuun haga laga Yordaanosii, laga Galiila'aa goodda kaabaa keessaa gara kibba Abbaayaa Sooddaatii fi gara gaara Phiisgaa aduun seentuutiin jalaatitti badhata.

¹⁸ Yennaa san ani «Mootiin Waan Maraa Waaqi keenna lafa Yordaanos irraa ta gara aduun baatuu tana akka qabattanu isinii kenneera. Amma namoota lolanu keessan hidhachiisa'aatii, gosooti Israa'elii dhibiin lafa ifii haga qabatanu akka qarqaaranuuf laga Yordaanosiitiin gama isaaniin dura erga'a.

¹⁹ Te'uu malee, isin horii hedduu akka qaddanu waan beekuuf, haadhotiin manaa teessan, ijoolle'ee fi horiin keessan qachoota ani isiniif kenne keessa turanuu ti.

²⁰ Tunille Mootiin Waan Maraa akkuma isiniif godhe, isaan lafa Yordaanos irraa gara aduun seentuu ta Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan isaaniif kennu san haga qabatanu. Saniin duuba tokko tokkoon keessa gara lafa ani isinii kenne sanii hin deebitan» jedhe.

²¹ Yennaa san ani Iyaasuu ajajee, «Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan mootota lama Sihoonii fi Oog waan godhe ati iluma teetiin dhaggiteerta; Mootiin Waan Maraa mootummoota ati itti dhaqaartu mara irralle'etti akkasuma hin godha.

²² Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan ifumaaf waan isinii loluuf isaan hin sodaatin» jedhe.

Muuseen Kana'aanitti Akka Hin Galle Dhooggame

²³ Yennaa san ani jabeessee daadimadhee,

²⁴ «Ee Goottaa, Mootii Waan Maraa! Ati guddinnaa fi irree teeti jadduu ana tajaajilaa keetitti mudhisuu jalqaddeerta. Ol-gubba'aa fi lafa irratti waan ati gootuu fi hujii gugurdoo ati hujju ka hujuu dande'u waaqi dhibiin eennu inni?

²⁵ Ani gamatti bu'ee, lafa dansaa laga Yordaanosiitiin gamaa biyya koobit-tii dansaa, gaara Libaanonille akka dhaggu naa eeyyam» jedhe.

²⁶ Sababa keessaniif ammoo Mootiin Waan Maraa natti aaree, ana hin caqanne. Inni anaan, «Si geetti. Marroo waan kanaa deebitee natti hin dubbatin!

²⁷ Qaccee gaara Phiisga'aatitti ol bayiitii gara aduun seentuu fi gara kaabaa, gara kibbaatii fi gara aduun baatu ilaali. Ati laga Yordaanosii gamatti waan hin buuneef, ila teeti qofaan ilaali.

²⁸ Kolbaa sooressee gamatti buusee, lafa ati dhaggitu tana akka isaan dhaalanu ka godhu, Iyaasuu waan te'eef, isa ajajiitii jajjabeessi; akka inni jabaatu godhi» jedhe.

²⁹ Maarre nuuti dhooqa Bet-phe'or bira jirtu keessa turre.

4

Muuseen Akka Israa'elooti Ajajantu Gorse

¹ Achiin duuba Muuseen kolba'aan, «Ee kolbaa Israa'elii, jiraattanee lafa Mootiin Waan Maraa Waaqi abbootii teessanii isiniif kennutti galtanee akka qabattanu seerataa fi seera ani amma isin barsiisu dhage'a'aatii eegadha'a.

² Waan ani isin ajaje irratti hin dabalina'a; irralle'ee hin dhidhisina'a. Aja-joota Mootii Waan Maraa ka Waaqa keessanii ka ani isinii kennu eegadha'a.

³ Isin waan Mootiin Waan Maraa gaara Phe'orii irratti godhe iluma teessaniin dhaggitaneertan; Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan worra gaara phe'orii irratti Ba'aal waaqonfatu mara odduu teessanii balleesseera.

⁴ Isin worri Mootii Waan Maraa Waaqa keessan hordofattane ammoo haga adhaa jiru'uun jirtan.

⁵ «Lafa itti galtanee qabatanutti, akka eegattanuuf, akkuma Mootiin Waan Maraa Waaqi kiyya na ajajetti, ani seerataa fi ajaja isin barsiiseera.

⁶ Isaan kana akka dansaa eegadha'a; worra seerata kana mara dhage'uu fi gosa biyya adda addaa ta, «Dhugumaan kolbaan guddoon tun kolbaa qaroole'ee fi hubantii qaddu» jedhanuuf, qarumma'aa fi hubantii teessan itti mudhisa.

⁷ «Mootiin Waan Maraa Waaqi keenna yennaa nuuti isa daadimannu akkuma nu'uuf dhikoo jiru, kolbaan guddoon dhibiin ta waaqoti isi'ii dhikoo isi'ii jiru tam ree?

⁸ Akka seera adha ani isinii kenne kanaa, kolbaan guddoon dhibiin seerataa fi seera balchaa qaddu tam ree?

⁹ Waan ila teessaniin dhaggitane akka hin deene, bara jiruu teessanii mara gadhaa keessan keessaa akka hin bannelle ifi eegadha'a. Waan kana ijoollee teessanii fi ijoollee ijoollee teessanii barsiisa'a.

¹⁰ Yennaa inni anaan, «Bara lafa san irra le'anuu mara ulfinna naaf kenniisa akka baratanu, ijoollee ifille akka barsiisanu, jecha kiyya akka dhage'anuu kolbaa na duratti wolitti qabi» jedhe, gaara Siina'aa* irratti Mootii Waan Maraa Waaqa keessan dura guyyaa dhaabbatane qaabadha'a.

¹¹ «Gaarri duumensa gurraachaa fi dukkana dimmaan gollamee, bobe'i ibiddaa ka haga gubba'aa gewu irratti bobe'iisatti adoo jiruu, isin dhuttanee gaara san jala dhaabbatane.

¹² Achiin duuba Mootiin Waan Maraa bobe'a ibiddaa san keessaa isinitti dubbate. Isin qoonqoo jecha isaa dhageettane malee, akki isaa attam akka jiru hin dhaggine. Qoonqoo qofa dhageettane.

¹³ Inni gondoaroo isin waliin gondoore, ajaja ifii kudhan ka akka isin eegattanuu isin ajaje san lasse; achiin duuba dhakaa baxxicha lama irratti barreesse.

¹⁴ Laga Yordaanosii gamatti buutane lafa dhaaltanu keessatti seerataa fi seera isin eegattanu akka ani isin barsiisu Mootiin Waan Maraa yennaa san na ajaje.

Waaqota Dharaa Waaqonfatiis Dhooggame

* **4:10** Gaara Siina'aa: Gaarri kun dur Horeeb jedhama.

¹⁵ «Mootiin Waan Maraa gaara Siina'aatitti ibidda bobe'u keessaa yennaa isinitti dubbate, isin akki isaa attam akka jiru hin dhaggine; tanaaf isin miidhassa'aa ifi eegadha'a.

¹⁶ Akka hin battoonneef, waaqota dharaa akka fakkii dhiiraatiin yookiin dubarti'iitiin hin hujatina'a;

¹⁷ yookiin fakkii bineensota lafa irraatiin yookiin fakkii sinbirrootaatiin,

¹⁸ yookiin fakkii waan gadha'aan lafa irra lowuutiin yookiin fakkii qurxummii bisaan keessaatiin waaqota dharaa hin hujatina'a.

¹⁹ Gara gubba'aa ilaaltee aduu, ji'a fi urjoota waan gubba'aa mara yennaa dhaggite, sossobantee, isaanii sagaddee waan Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti gosa biyya adda addaa ta lafa irraa maraaf kenne waaqonfattee hin ataabamin.

²⁰ Mootiin Waan Maraa ammoo isin akka adhaa kana kolbaa isaa akka teetanuuf, biyya Gibxi'ii ta akka addee ibidda sibila itti baqisiisanuu san keessaa isin baaseera.

²¹ Mootiin Waan Maraa sababa keessaniif natti aaree, akka ani laga Yordaanosii gamatti bu'ee, lafa dansaa Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan isiniif kennutti hin galle kakate.

²² Ani lafa tana keessatti hin du'a; laga Yordaanosii gamatti hin bu'u; isin ammoo laga Yordaanosii gamatti buutane, lafa dansaa san hin qabattan.

²³ Gondooroo Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan isin woliin godhe akka hin deene ifi eegadha'a; waaqota dharaa ka Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan isin dhoogge akka fakkii waan tokkootille'een hin hujatina'a.

²⁴ Sababille Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan ibidda gubee balleessu, Waaqa hinaatticha.

²⁵ «Isin ijoollee uumattanee, akaakota dhaggitanee lafa san keessa yennaa hedduu leetaneen duuba, akka fakkii waan fedheetiin waaqa dharaa hujisaan ifi batteessitanee, Mootii Waan Maraa Waaqa keessan duratti waan hantuu hujjane, isa yoo aarsitane,

²⁶ lafa isin laga Yordaanosii gamatti buutane qabattanu keessaa, ariiti'iin akka baddanu, ani guyyaa adhaa ol-gubba'aa fi lafa waamee isin irratti dhugaa qabadha. Isin ijumaa hin baddan malee, yennaa hedduu achi hin leetanu.

²⁷ Mootiin Waan Maraa kolbaa hedduu keessa isin hin bittinneessa; gosa biyya adda addaa ta Mootiin Waan Maraa keessa isin bittinneessu keessa, isin keessaa nama diqqaa qofatti lubbu'uun hafa.

²⁸ Isin achitti waaqota nami mukaa fi dhakaa irraa huje, ka dhaggiisa, dhage'iisa, nyaatiisaa fi foolee fuudhiisa hin dandeenne hin waaqonfattan.

²⁹ Garuu achuma keessattuu Mootii Waan Maraa Waaqa keessan gadhaa tokkoochaa fi lubbuu takkatti'iin yoo barbaadattane, isa hin dhaggitan.

³⁰ Ati yennaa guddoo rakkattee wonni kun marti si dhaqqaddu, bara muumme'ee irratti gara Mootii Waan Maraa Waaqa keetii deebitee isaaf hin ajajanta.

³¹ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti mararaa waan te'eef, si hin lakkisu yookiin si hin balleessu yookiin gondoaroo kaku'uun abbootii teeti woliin gondoorelle hin dedhu.

³² «Marroo waan bara durii, isin adoo hin dhalatiniin duraa, yennaa Waaqi lafa irratti nama dadeen jalqaba'aatii qoradha'a. Ol-gubbaa qacce'ee haga qacce'eetitti qorqora'a; wonni guddoon akkasii teeteertii yookiin dhage'antee beettii?

³³ Akka isin Waaqi ibidda keessaa dubbatuun dhageettanee jiru'uun jiraattane, kolbaan dhibiin ibidda keessaa dubbatuun qoonqoo Waaqaa dhageettee jiru'uun jiraatte jirtii?

³⁴ Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan biyya Gibxi'ii keessatti ila teessan duratti waan mara akka isiniif godhe, waaqi haga ilaaliisaan, bilbaasaa fi maade'een, lolaan, hunna guddo'oo fi irree diriirsee yookiin hujii guddo'oo fi sodaachittu'uun kolbaa biyya tokkoo keessaa kolbaa takka fudhatee ta ifii ka godhate jiraa?

³⁵ Mootiin Waan Maraa Waaqa akka te'e, isa malee Waaqi dhibiin akka hin jirrelle akka beettanuuf waan kana isinitti mudhise.

³⁶ Isin barsiisiisaaf inni ol-gubbaa irraa qoonqoo ifii isin dhageessise. Inni lafa irratti ibidda ifii guddaa isinitti mudhisee, ibidda keessaa jecha isaa dhageettane.

³⁷ Inni abbootii teessan jaalatee isaaniin duuballe sanyii isaanii waan filateef, isin woliin jiraatiisaan jabeenna ifii gudda'aan biyya Gibxi'ii keessaa isin baase.

³⁸ Lafa adha teessan teete tana gosa biyya adda addaa ta isin caalaa bacattu, hunnalle'een ta isin caaltu, lafa isaanii akka dhaaltanu isinii kenniisaaf, inni ari'ee isaan isin duraa baase.

³⁹ Ol-gubba'aa fi lafa irratti Mootiin Waan Maraa Waaqi isa qofa akka te'e, isa malee ka dhibiin akka hin jirre adha beeka'aatii, gadhaa keessan keessatti qabadha'a.

⁴⁰ Isiniif, isiniin duuballe ijoollee teessaniif akka toltu, lafa Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan bara baraaf isinii kennu keessa bara dheeraa akka leetanu, seerataa fi ajajoota adha ani isin ajaju eegadha'a» jedhe.

⁴¹ Achiin duuba Muuseen qachoota sad ka laga Yordaanosii irraa gara aduun baatu jiranu adda baase;

⁴² kunille nami diinummaa adoo hin qabaatin danuu nama ijjeese tokko qachoota kana keessaa gara tokkoochaa baqatee akka lubbu'uun hafu.

⁴³ Qachooti kun: qachaa Bezerii ka gooroo goomole'ee keessaa gosa Ruubeniitiif, qachaa Raamootii ka biyya Giil'aadii keessaa gosa Gaadiitiif, qachaa Golaanii ka Baashaan keessaa gosa Minaase'eetiif adda baase.

Seeraa Waaqaa Ka Muuseen Dhikeesse

⁴⁴ Seerri Muuseen kolbaa Israa'eliitiif dhikeesse ka asii gad jiru:

⁴⁵ Sunille qajeelfama, seerataa fi seera Muuseen yennaa Israa'elooti biyya Gibxi'ii keessaa baate isaaniif kenne.

⁴⁶ Inni laga Yordaanosii irraa gara aduun baatu, fuullee Bet-Phe'orii dhooqa keessa biyya Sihoonii mootii Amoorotaa, ka Heshiboon keessa tee'ee bulchuu keessatti isaaniif kenne; Muuse'ee fi Israa'elooti biyya Gibxi'ii keessaa yennaa bayane isa lolanee injifatane.

⁴⁷ Isaan lafa isaa, lafa Oogii mootii Baashaaniitii ta mootota Amoorotaa lamaan tana ta Yordaanos irraa gara aduun baatu jirtu qabatane.

⁴⁸ Latti sun qachaa Aro'erii irraa kaatee qarqara dhooqa Aarnoniitii haga gaara Siyonii ka «Hermoon» jedhamuutitti,

⁴⁹ lafa Arabaayii ta laga Yordaanosii irraa gara aduun baatuu mara haga Abbaayaa sooddaa, akkasuma goodda gaara Phiisga'aatiin jalaalle dabalatti.

5

*Ajajoota Kudhan
(Bay. 20:1-17)*

¹ Muuseen kolbaa Israa'elii mara wolitti waamee, «Kolbaa Israa'elii seer-ataa fi seera akka isin barattanu ani adha isinitti himu kana dhage'a'a. Miidhassa'aa eegadha'a.

² Mootiin Waan Maraa Waaqi keenna gaara Siina'aa irratti nu woliin gondoorroo gondooreera.

³ Inni abbootii teenna woliin adoo hin te'in, nu worra amma as jiru'uun jirru mara woliin gondooreera.

⁴ Mootiin Waan Maraa gaara gubba'atti fuula keessan duratti ibidda keessaa isinitti dubbate.

⁵ Yennaa san isin ibidda sodaattanee, gara gaaraa waan hin bayiniif, ani wodhakkaa teessanii fi Mootii Waan Maraa dhaabbadhee jecha isaa isiniif lallabe.

«Mootiin Waan Maraa,

⁶ «Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keeti ka lafa garbumma'aa, biyya Gibxi'ii keessaa si baase.

⁷ ««Ana malee waaqota dhibii hin waaqonfatin.

⁸ ««Waaqota dharaa fakkii waan ol-gubba'aatiin yookiin waan gad lafa irraatiin yookiin waan bisaan keessa lafa jala jiruutiin hin hujatin.

⁹ Ani Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti Waaqa hinaatticha, cubbuu abbootii na jibbituutiif, ijoollee isaanii haga dhaloota sadii fi afurii waan adabuuf, ati waaqota dharaatiif hin sagadin; hin waaqonfatinille'e.

¹⁰ Worra na jaalatu fi ajajoota kiyya eegatu kumootaaf jaalala kiyya ka bara baraa isaaniif hin mudhisa.

¹¹ ««Ani Mootiin Waan Maraa nama maqaa kiyya akkasumaan dhowu adabu malee waan hin lakkinneef, ati maqaa Mootii Waan Maraa Waaqa keetii akkasumaan hin dhowin.

¹² ««Ani Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti akkuma si ajaje, guyyaa Sanbataa woyyoonsii eegadhu.

¹³ Guyyaa jaa hujadhu; hujii teeti mara muummessi.

¹⁴ Guyyaan torbeesso'oo ammoo guyyaa ati ana Mootii Waan Maraa ulfeessiisaaf foorfattu. Guyyaa san ati, ilmi keeti yookiin intalti teeti, tajaajilaan keeti ka dhiiraa yookiin tajaajiltuun teeti ta dubarti'ii, qotiyyoon teeti yookiin harreen teeti yookiin horiin keeti marti yookiin ormi qachaa keeti keessa le'u hujii tokkolle hin hujina'a. Tajaajiltooti teetille akkuma keeti foorfatanuu ti.

¹⁵ Ati biyya Gibxi'iititti garba akka teete, ani Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti hunna guddo'oo fi irree tiyya diriirsee achi keessaa akka si baase qaabadhu. Tanaaf ani Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti akka ati guyyaa sanbataa ulfeessitee foorfattu si ajaje.

¹⁶ ««Lafa ani Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti si'iif kennu keessa bara dheeraa akka leetu, wonni ati gootu marti akka sii toltu, akkuma ani Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti si ajaje abba'aa fi haadha teetiif ulfinna kenni.

¹⁷ ««Hin ijjeesin.

¹⁸ ««Hin gaarayyeeffatin.

¹⁹ ««Hin hatin.

²⁰ ««Nama irratti dharaan dhugaa hin bayin.

²¹ ««Niitii namaa hin kajeelin. Mana namaa, lafa namaa, tajaajilaa namaa, loon namaa, harree namaa yookiin karra namaa mara hin halchin» jedha.

²² «Ajajooti Mootiin Waan Maraa qoonqoo guddoon gaara Siina'aa gubba'atti ibidda, duumensaa fi dukkana dimma keessaa gumii teessan duudi'itti dubbate isaan kana; inni waan tokkolle itti hin daballe. Achiin duuba inni dhakaa baxxicha lama irratti barreessee natti kenne.

²³ «Gaara irratti ibiddi bobe'uun, dukkana dimma keessaa qoonqoo yennaa dhageettane, sooreyyiin gosa teessaniitii fi jaarsoleen teessan marti gara kiyya dhuttanee,

²⁴ «Mootiin Waan Maraa Waaqi keenna ulfinnaa fi guddinna ifi nutti mudhisee, ibidda keessaa qoonqoo isaa dhageenneerra. Waaqi yoo isatti dubbatelle, nami le'uu akka dande'u nuuti adha dhaggineerra.

²⁵ Amma ammoo, ibiddi guddaan kun nu fixa; hagaraa achi qoonqoo Mootii Waan Maraa Waaqa keennaa yoo dhageenne hin duuna; nuuti maaf duuna ree?

²⁶ Sanyii namaa keessaa eennutti Waaqi jiraataan ibidda keessaa dubbatuun dhage'ee, akka keenna le'uu dande'e jiraa ree?

²⁷ Ati itti dhikaadhuutii waan Mootiin Waan Maraa Waaqi keenna jedhu mara dhage'i. Achiin duuba waan Mootiin Waan Maraa Waaqi keenna sitti himu mara nutti himi. Nuutille dhageennee hin ajajanna» jettane.

²⁸ «Mootiin Waan Maraa yennaa isin natti dubbatane dhage'ee, anaan, «Waan kolbaan tun siin jette dhage'eera. Wonni isaan jedhane marti dansa'a.

²⁹ Hay, isaanii fi ijoollee isaaniitiif, haga bara baraa akka toltu, na sodaati-isaaf ajaja kiyya mara akka eegatanu yennaa mara gadhaa akkasii adoo qabaatanee attam attam dansa'a!

³⁰ Dhaqiitii gara dunkaanii ifi akka deebi'anuu itti himi.

³¹ Ati ammoo as na bira turi; lafa akka isaan dhaalanuuf ani isaaniif kennu keessatti akka eegatanu akka isaan barsiittuuf ani ajaja, seerataa fi seera kiyya mara sitti hin kenna» jedhe.

³² «Maarre waan Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan isin ajaje mara eegadha'a; isa irraa gara middaatitti yookiin gara bita'aatitti hin gorina'a.

³³ Lafa dhaaltanu keessatti jiru'uun akka leetanu, akka isinii toltuu fi bara dheeraa akka leetanu karaa Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan isin ajaje mara deema'a» jedhe.

6

Ajaja Guddicha

¹ Laga Yordaanosii gamatti buutane lafa dhaaltanu keessatti akka eegatanu ajaji, seeratii fi seerri Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan, akka ani isin barsiisuuf na ajaje kana.

² Kunille isin bara jiruu teessanii seerata isaatii fi ajaja isaa mara ka ani isin, ijoollee teessanii fi ijoollee ijoollee teessanii ajaju eegatiisaan Mootii Waan Maraa Waaqa keessan akka sodaatanuuf barri keessanille akka isinii dheeratuuf ka kennamane.

³ Ee, Israa'elii, akka sii toltuuf, akkuma Mootiin Waan Maraa Waaqi abbootii teetii waadaa sii gale lafa aananii fi dammaa keessatti akka hortee bacattu ifi eegadhuutii ajajami.

⁴ Ee, Israa'el dhage'i! Mootiin Waan Maraa Waaqi keenna Waaqa tokkocha.

⁵ Mootii Waan Waaqa keeti gadhaa keeti tokkochaan, lubbuu teeti takkatti'ii fi hunna teeti maraan jaaladhu.

⁶ Ajajoota ani adha si ajaju kana ijjumaa hin dedhin.

⁷ Ajajoota kana irra deddeebi'itii ijoollee teeti barsiisi. Yennaa mana teettu, yennaa karaa ideentu, yennaa irkattu fi yennaa kaatu marroo ajajoota kanaa dubbadhu.

⁸ Beessisa akka sii te'uuf harka keeti irratti hidhadhu; adda keeti irralle'etti hidhadhu.

⁹ Mikikkila balbala mana keetiitii fi seensuma karra teetii irratti barreessi.

Ifi Eeggachiisa Ajajama Dhabaaf Kenname

¹⁰ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti abbootii teeti ta durii Abrahaamiif, Yisihaqii fi Yaaqoobiif akkuma waadaa galetti, lafa qachoota gugurdaa ati hin ijaarin mimmidhaagaa qaddutti yennaa si galchu,

¹¹ mama meya dadansa'aan guutame ka ati itti hin guutin, boolla bisaanii ta ati hin qotin yennaa dhaggattu, woyni'ii fi muka ejersaa ka hin dhaabin nyaattee yennaa quuttu,

¹² Mootii Waan Maraa ka garbummaa biyya Gibxi'ii keessaa si baase akka hin deene ifi eegadhu.

¹³ Mootii Waan Maraa Waaqa keeti sodaadhu; isa qofa tajaajili; kakuun teeti maqaa isaatiin teetuu ti.

¹⁴ Waaqota dhibii ka gosa adda addaa hin waaqonfatin.

¹⁵ Mootiin Waan Maraa ka isin woliin jiru Waaqa hinaatticha waan te'eef, aariin isaa siirratti bobettee, lafa irraa si hin balleessa.

¹⁶ Addee «Maasaa» jedhantutti akkuma gootane, Mootii Waan Maraa Waaqa keessan haga hin ilaalina'a.

¹⁷ Ajaja, seerataa fi seera Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan isin ajaje miidhassa'aa eegadha'a.

¹⁸ Akka sii toltu, lafa Mootiin Waan Maraa abbootii teeti ta duriitiif kenniisaaf kaku'uun waadaa gale akka dhaaltuuf, Mootii Waan Maraa duratti waan qajeelaa te'ee fi waan dansaa te'e huji.

¹⁹ Akka Mootiin Waan Maraa jedhe diinota keeti ifi duraa hin ariita.

²⁰ Gara duraa yennaa ilmi keeti, «Hiikkaan qajeelfama, seerataa fi seera Mootiin Waan Maraa Waaqi kenna si ajajee maan?» jedhee yoo si gaafate,

²¹ ati ilma keetiin, «Dur nuuti garboolee mooticha Gibxi'ii ti; Mootiin Waan Maraa ammoo hunna ifii guddo'oon biyya Gibxi'ii keessaa nu baase.

²² Ila teennaan adoo nu dhagginuu Mootiin Waan Maraa bilbaasota, maadee gugurdo'oo fi waan nama bararassu worra Gibxi'ii irratti, mooticha biyya Gibxi'iitii fi maatii isaa irratti hujeera.

²³ Inni ammoo achii nu baasee lafa abbootii teennaa kenniisaaf kaku'uu waadaa gale, nuu kenniisaaf as nu fide.

²⁴ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Waaqi keenna yennaa mara akka nuu toltuuf, akkuma adhaa kana jiru'uun akka nu eeguuf, nuutille akka isa sodaannuuf, seerata isaa kana akka eeganu, Mootiin Waan Maraa nu ajaje.

²⁵ Nuutille akkuma inni nu ajaje Mootii Waan Maraa Waaqa keenna duratti ajaja isaa kana mara yoo eeganne balchummaa nuu teeti» hin jetta.

7

Kolbaa Waaqaa

¹ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti lafa ati dhaaliisaaf itti galtutti yennaa si fide, lafa san keessaa gosa biyya adda addaa hedduu ta isin caalaa bacattuu fi hunna qaddu torba Heetota, Girgaashota, Amoorota, Kana'aanota, Pherizota, Hiiwotaa fi Yibusoota si duraa hin ari'a.

² Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti kolbaa tana mara harka keetitti dabarsee yennaa kenne, atille yennaa isaan injifatte, isaan mara balleessuu qadda. Isaan woliin wolii galtee hin godhin; isaaniifille hin mararin.

³ Isaan woliin hin soddomin; durri teeti ilmaan isaanii hin heerumsiisin yookiin ilmaan teeti durra isaanii hin fuusisin.

⁴ Sababille isaan ijoollee teeti ana Mootii Waan Maraa irraa deebisane, akka isaan waaqota dhibii waaqonfatanu hin godhan; aariin ana Mootiin Waan Maraalle si irratti bobettee, ariiti'iin si hin balleessiti.

⁵ Tanaaf ati addee ciinca'aa ta isaanii diigi; soodduu woyyittii isaanii caccassi; utubaa waaqa dharaa ta, «Asheeraa» jedhantu ta isaanii jissi; waaqota dharaa ka isaaniille ibiddaan gubi.

⁶ Sababille ati kolbaa woyyittii Mootii Waan Maraa Waaqa keetii ti. Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti kolbaa biyya lafaa mara keessaa qabeenna isaa ka addaa akka teetuuf si filateera.

⁷ Mootiin Waan Maraa waan isin gosa dhibii caalaa guddoo bacattaneef jaalatee isin hin filane; isin gosa dhibii caalaa guddoo diqqaattan.

⁸ Mootiin Waan Maraa ammoo waan si jaalateef, waadaa abbootii teetiif gale eeguu waan barbaadeef, hunna ifii guddoon lafa garbumma'aa keessaa harka Fara'oonii mooticha Gibxi'ii jalaa si wode.

⁹ Tanaaf, Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti Waaqa akka te'e beeki; inni Waaqa addatama'a; worra isa jaalatu fi ajaja isaa eegatanuuf haga dhaloota kumaatitti gondooro'oo fi jaalala ifii ka bara baraa hin eega.

¹⁰ Worra isa jibbu ammoo balleessiisaan adoo isaan dhagganuu haluu hin baya; worra isa jibbu adoo isaan dhagganuu haluu bayiisaaf hin turu.

¹¹ Tanaaf ajaja, seerataa fi seera ani adha si ajaje midhassii eegi.

Eebba Ajajamiisa Irraa Dhufu

(Kes. 28:1-14)

¹² Ajajoota kana caqattee miidhassitee yoo eedde, Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti akkuma abbootii teetiif kakate, gondooro'oo fi jaalala ifii ka bara baraa si'iif hin eega.

¹³ Inni si jaalata, si eebbisa, laakkossaan keeti hin baceessa; inni lafa sii kenniisaaf abbootii teetiif waadaa gale keessatti ijoollee teeti, oorruu lafa teetiitii fi midhaan fichaa keetii, woyni'ii fi zayitii ejersaa teeti haareya, jabbilee loon keetii, ilmoolee hoole'ee fi re'ee teetii hin eebbisa.

¹⁴ Ati kolbaa dhibii caalaa hin eebbifanta; nama keeti keessaa dhiirtii fi dubartiille finna hin dhabanu; horii keeti keessalle'ee ka maseenu hin jiraatu.

¹⁵ Mootiin Waan Maraa dhukkuba mara irraa si eega; inni dhukkuba guddoo sodaachisu ka ati biyya Gibxi'ii keessatti beettu, worra si jibbu irratti fida malee si irratti hin fidu.

¹⁶ Kolbaa biyya adda addaa ta Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti harka keetitti dabarsee kennu mara balleessi malee, isaaniif hin mararin. Isaan tiyyoo waan sitti te'anuuf, waaqota isaanii hin waaqonfatin.

¹⁷ Ati, «Kolbaan biyya adda addaa tun nu caalaa jajjaddu'u; nuuti attam dandeennee ariinee isaan baanna» jettee yaadda fa'a.

¹⁸ Isaan hin sodaatin. Waan Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti mooticha biyya Gibxi'iitii fi worra Gibxi'ii mara irratti godhe midhassii qaabadhu.

¹⁹ Balaa gugurdaa bilbaasota, maadee, hunna guddoon fi irree diriirsee Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti si baase ila teetiin dhaggiteerta. Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti, kolbaa biyya adda addaa ati amma sodaattu tana mara akkasuma hin godha.

²⁰ Kana irralle'etti worri hafee si duraa dhokate, haga balleeffamanutti Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti, sardama* isaanitti hin erga.

²¹ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti, Waaqi guddaan sodaachisaan waan si waliin jiruuf, isaan si hin rifachiisin.

²² Mootiin Waan Maraa kolbaa biyya adda addaa tana diqquma diqqoon si duraa ari'ee hin baasa. Bineensi akka sitti hin bacanne, mara isaanii yennuma takka'an hin balleessin.

* **7:20 Sardama:** Afaan Ibrootaatiin Soonsa jedha

²³ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti, diinota keeti harka keetitti dabarsee kennee, haga isaan badanutti waan godhanu isaan hin wollaalchisa.

²⁴ Inni mootota isaanii harka keetitti dabarsee hin kenna. Ati maqaa isaanii lafa irraa hin balleessita. Eennulle si dura dhaabbatuu hin dandé'u; ati isaan mara hin balleessita.

²⁵ Waaqota isaanii ka dharaa ibiddaan gubi. Meetii yookiin worqii irratti maxxanfanteertu halchitee hin fudhatin yookiin isiin Mootii Waan Maraa Waaqa keeti ta diqachiittu waan teeteef, gufuu sitti teeti.

²⁶ Waaqota dharaa diqachiisaa kana gara mana keetii yookiin gara keeti hin fidin; yoo fidde atille akkuma isaanii hin badda. Isaan badi'iif waan adda bayaneeranuuf, ijjumaa diqadhu.

8

Waaqa Hin Dedhin

¹ Akka Jiraattanuuf, akka bacattanuuf, lafa Mootiin Waan Maraa abbootii teessanii kenniisaaf kaku'uun waadaa galetti galtanee akka dhaaltanuuf, ifi eegadha'aatii ajaja ani adha isin ajaje mara eegadha'a.

² Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti, akka ati gad jettuuf, gadhaa keeti keessa waan jiru, ajaja isaa akka ati eegattu yookiin hin eeganne beekiisaaf, haga si ilaaliisaaf jedhee, karaa inni goomolee keessa woggaa afurtama si sooresse qaabadhu.

³ Inni nami jecha afaan Mootii Waan Maraa keessaa bawuun malee, sagalee qofaan le'uu akka hin dandeenne si barsiisiisaaf, inni si beelessee gad si qabe; achiin duuba mannaa abbootiin teetii fi atille hin beenne si nyaachise.

⁴ Woggaa afurtama tana duudii keessatti woayaan teeti hin dhumanne; miilli keetille hin iitonne.

⁵ Nami ijoollee ifi akkuma adabu, Mootiin Waan Maraa Waaqi keetille akka si adabu gadhaa keeti keessatti beeki.

⁶ Karaa isaa irra deemiisaan, isa sodaatiisalle'een, ajajoota Mootii Waan Maraa ka Waaqa keetii mara eegadhu.

⁷ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti, lafa dansaa ta bisaan yaa'uu fi baleessa bisaanii qaddu, ta maddi dhooqaa keessaa fi kooba keessa yaa'utti si hin galcha.

⁸ Latti sun lafa qamadi'i, lafa garbu'u, lafa muka woyni'ii, lafa muka harru'uu, lafa muka rumaanii, lafa muka ejersaatii fi lafa dammaa ti.

⁹ Latti sun ta sagaleen keessaa hin dhabanne, ta ati womaa keessaa hin dhanne, ta rasaan isi'ii sibiilaa, ta koobota isi'ii keessalle sibiila diimaa qottee baafattu.

¹⁰ Nyaattee yennaa quutte, lafa dansaa Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti sii kenne saniif isa leellifadhu.

Ifi Eeggachiisa Waaqa Akka Hin Deeneef Kenname

¹¹ Ajaja, seerataa fi seera ani Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti adha sii kennu eeguu dhabiisaan akka hin deene ifi eegadhu.

¹² Yoo akkas hin te'in, yennaa nyaattee quuttu, yennaa manoota dadansaa ijaaratee keessa leetu,

¹³ horiin keetii fi hoole'ee fi re'een teeti yennaa sii horanu, meetiin, worqi'ii fi wonni ati qaddu martille yennaa sii bacattu,

¹⁴ koortee Mootii Waan Maraa Waaqa keeti ka garbummaa biyya Gibxi'ii jalaa si baase hin deeta.

¹⁵ Inni goomolee badhoo sodaachittuu keessa, lafa godduu bisaan hin qanne, goomolee dhudhuufa'aa fi makki* keessa guutane san keessa si sooresse; rassaa jaba keessaalle'ee bisaan sii baase.

¹⁶ Dhuma irratti wonni dansaan akka sii teetu, akka ati gad jettu haga si ilaaliisaaf, goomolee keessatti, mannaa abbootiin teeti ijjumaa nyaatanee hin beenne si nyaachise.

¹⁷ Ati, «Hunnaa fi jabeenna kiyyaan karra tana horadhe» hin jetta fa'a.

¹⁸ Ammoo Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti akkuma adha godhe kana gondoaroo ifii ta abbootii teeti ta duriitiif kaku'uun gondoore jabeessiisaaf, akka ati karra tana horattu dandeettii waan sii kennuuf, isa qaabadhu.

¹⁹ Ati Mootii Waan Maraa Waaqa keeti deetee, waaqota dhibii hordottee yoo waaqonfatte, isaaniifille yoo sagadde, dhugumaan akka isin baddanu ani adha dhugaa isin irratti hin baya.

²⁰ Akkuma gosa biyya adda addaa ta Mootiin Waan Maraa isin duraa balleessee, Mootii Waan Maraa Waaqa keessaniif waan hin ajajaminiif, isinille hin baddan.

9

Kolbaan Israa'elii Ajajamuu Didde

¹ Ee Israa'el! Dhage'i. Ati adha qachoota gugurdaa dalleenni isaanii ka dhaka'aa haga gubba'aa ol dheeratu, gosa biyya adda addaa ta si caalaa baccattuu fi si caalaa hunna qaddu irraa fudhatiisaaf laga Yordaanosii gamatti hin buuta.

² Kolbaan Aanaaqotaa kolbaa jajjadduu dhedheertu'u. Ati marroo isaanii hin beetta; «Aanaaqota eentu ifi irraa dhooggatiisa dande'a» jedhanuun dhageetteerta.

³ Te'uu malee akka ibidda gubuu si'iin dura ka gamatti bu'u Mootii Waan Maraa Waaqa keeti akka te'e adha beeki. Inni isaan hin balleessa; fuula keeti duratti isaan hin injifata. Ati Akkuma Mootiin Waan Maraa waadaa sii galetti ariitee isaan hin baatta; ariitiille'een isaan hin fixxa.

⁴ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti isaan si duraa ari'ee baaseen duuba, «Balchummaa tiyyaan akka ani lafa tana qabadhuuf, Mootiin Waan Maraa as na fide» jettee hin yaadatin. Balchummaa teetiinii moti; isaan hamoolee waan te'aneef, inni si duraa ari'ee isaan baase.

⁵ Ati lafa isaaniititti galtee wonni dhaaltuuf, balchummaa teetii fi qajeelummaa teetiin adoo hin te'in, Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti abbootii teeti Abrahaam, Yisihaqii fi Yaaqoobiif waan kakate muummessiisaaf, gosa biyya adda addaa tana marroo hammeenna isaaniitiif si duraa ari'ee baasa.

⁶ Ati waan mataa jabaattuuf, Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti lafa dansaa tana ka sii kennuuf, balchummaa teetiif akka hin te'in beeki.

⁷ Goomolee keessatti Mootii Waan Maraa Waaqa keeti attam akka aarsite qaabadhu; ijjumaa hin dedhin. Guyyaa biyya Gibxi'iitii baatee jalqaddee, haga guyyaa as geettuutitti Mootii Waan Maraa irratti finqila kaatteerta.

⁸ Gaara Siina'aa irratti, haga isin balleessiisaaf ka'utti Mootii Waan Maraa guddoo mufachiittane.

⁹ Ani dhakaa baxxicha lama, dhakaa baxxicha lama ka gondoaroo Mootiin Waan Maraa isin woliin gondooree fuudhiisaaf gara gaaraa yenna ol baye, guyyaa afurtamaa fi halkan afurtama gaara san irra ture; sagalee hin nyaanne; bisaanille hin unne.

* **8:15 Makki:** Gosa qaajibbuu goomolee keessaa ta eegee irraa hadhaa qaddu.

¹⁰ Mootiin Waan Maraa dhakaa baxxicha lama ka seerri kudhan quba Waaqaatiin irratti barreeffameeru natti kenne. Guyyaa wolde'aa, ajaji Mootiin Waan Maraa gaara irraa, ibidda keessaa isinitti dubbate marti irra jiraayyu.

¹¹ Mootiin Waan Maraa dhuma guyyaa afurtamaatii fi halkan afurtamaa sanitti, dhakaa baxxicha gondooro'oo san natti kenne.

¹² Achiin duuba Mootiin Waan Maraa, anaan, «Kolbaan ati biyya Gibxi'ii keessaa baatte waan battootteef, ariifadhuutii gaara kana irraa gad bu'i. Isaan yoosuma waan ani isaan ajaje irraa goranee, waaqota dharaa sibiila irraa baqisiisanee hujataneeran» jedhe.

¹³ Ammalle Mootiin Waan Maraa, anaan, «Kolbaan tun kolbaa mataa jabaattu akka teete ani dhugumaan dhaggeera.

¹⁴ Akka ani isaan balleessee maqaa isaanii lafa irraa haxowu na lakkisi; ani isaan caalaa gosa jadduu bacaa si hin godha» jedhe.

¹⁵ Maarre ani ibiddi gaara irraa adoo bob'e'uu, dhakaa baxxicha gondo-ro'oo lamaan san harka kiyya lamaanitti qabadhee deebi'ee gaara irraa gad bu'e.

¹⁶ Ani yennaa ilaale, isin Mootii Waan Maraa Waaqa keessan irratti cub-buu hujjaneertanuun dhagge; isin waaqa dharaa fakkii jabbi'itiin baqisi-ittanee hujattane. Karaa Mootiin Waan Maraa isin ajaje irraa ariifattanee gortane.

¹⁷ Tanaaf ani dhakaa baxxicha lamaan san harka kiyya irraa qolaansee isin duratti caccasse.

¹⁸ Achiin duuba ammalle, isin ila Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu isa aarsu hujiisaan, cubbuu hujjane maraaf, ani sagalee adoo hin nyaatin, bisaanille adoo hin unin guyyaa afurtamaa fi halkan afurtama fuula isaa duratti gombifame.

¹⁹ Mootiin Waan Maraa aaree isin balleessiisaaf waan ka'eef, ani aari'ii fi mufii isaa sodaadhe. Mootiin Waan Maraa ammoo ammalle naaf dhage'e.

²⁰ Mootiin Waan Maraa Aaron balleessiisaaf itti aare; ani yennaa san Aaroonif daadimadhe.

²¹ Ani hujii cubbittii teessan, waaqa dharaa fakkii jabbi'itiin hujjane sanille fuudhee ibiddaan gube. Achiin duuba fakkii san butuchee daakee bulleessee bukuu san bisaan gaara irraa gad bu'utti naqe.

²² Isin Tabeera'atti, Maasa'aa fi Qibrot-Hatawaalle'etti Mootii Waan Maraa aarsitane.

²³ Mootiin Waan Maraa Qaadesh-Barne'aa yennaa isin baase, inni, «Dhaqa'aatii lafa ani isiniif kennu qabadha'a» jedhe. Isin ammoo ajaja isaa irratti finqila kaattane malee, isatti hin addanne yookiin isaaf hin ajajanne.

²⁴ Yennaa ani isin beekeen jalqaddanee, isin Mootii Waan Maraa irratti finqiluma kaasiisatti jirtan.

²⁵ Mootiin Waan Maraa, «Isin balleessa» waan jedheeruuf, ani fuula Mootii Waan Maraa duratti guyyaa afurtamaa fi halkan afurtama gombifame.

²⁶ Ani gara Mootii Waan Maraa daadimadhee, «Ee Gootta'a, Mootii Waan Maraa, qabeenna keeti ka te'ane, kolbaa teeti ta hunna teeti guddo'oo fi irree teeti jaddu'uun wodattee biyya Gibxi'ii keessaa baatte hin balleessin.

²⁷ Tajaajiltoota teeti Abrahaam, Yisihaii fi Yaaqoob qaabadhu. Mataa-jabeenna, hammeennaa fi cubbuu kolbaa tanaa hin ilaalin.

²⁸ Yoo akkas hin te'in, worri Gibxi'ii nu'uun: Mootiin Waan Maraa lafa isaanii waadaa galetti isaan galchuu waan dadhabeef, inni waan isaan jibbeef goomolee keessatti isaan ijjeesiisaaf isaan baase hin jedhan.

²⁹ Isaan ammoo qabeenna keeti ka te'ane, kolbaa teeti ta ati hunna teeti guddo'oo fi irree teeti diriirsitee biyya Gibxi'ii keessaa baatte» jedhe.

10

Muuseen Lammeessoo Ajaja Kudhan Fuudhe (Bay. 34:1-10)

¹ Yennaa san Mootiin Waan Maraa, anaan, «Dhaka baxxicha lama kama qaraa kaan fakkeessii bociitii, gaara irratti gara kiyya koy; saanduqa mukaalle huji.

² Anille dhaka baxxicha lamaan san irratti jechoota dhaka baxxicha lamaan qaraa, ka ati caccassite irra jiru kaan, deebisee hin barreessa. Achiin duuba ati dhaka baxxicha ani irratti barreesse lamaan san saanduqa keessa hin keetta» jedhe.

³ Maarre ani muka gololchaa irraa Saanduqa huje; dhakoota baxxicha lama kama qaraa kaan ka fakkaatu bocee, harkatti qabadhee gara gaaraa ol baye.

⁴ Mootiin Waan Maraa, akkuma barreeffama qaraa san ajajoota kudhan ka inni gaafa wolde'aa san gaara irratti ibidda keessaa isinitti dubbate san dhakoota baxxicha lamaan kana irratti barreesse. Achiin duuba dhakoota baxxicha lamaan san natti kenne.

⁵ Achiin duuba anille deebi'ee gaara irraa gad bu'ee, dhakoota baxxicha lamaan san akkuma Mootiin Waan Maraa na ajaje saanduqa huje san keessa keye; isaan ammalle achuma keessa jiran.

⁶ Israa'elooti boollota bisaan kolbaa Yaa'aakaanii biraa ka'anee, gara Mose-rootii deemane. Achitti Aaron du'ee awwaalame; ilmi isaa Ele'azaar addee isaatiitti hayyuu te'e.

⁷ Isaan achii ka'anee gara lafa, «Gudgodaa» jedhantuu deemane; achille'ee ka'anee gara lafa bisaan yaa'u qadduu gara lafa, «Yoxbaataa» jedhantuu deemane.

⁸ Yennaa san Saanduqa Gondo-roo Mootii Waan Maraa akka ba'attu, isa tajaajiliisaaf Mootii Waan Maraa dura akka dhaabbattu, maqaa isaatiin akka eebbittu, Mootiin Waan Maraa gosa Lewwi'ii adda baase. Haga adhaalle tajaajilli gosa Lewwi'ii kanuma.

⁹ Tanaaf gosi Lewwi'ii obboleeyyan ifii woliin gooda yookiin lafa dhadde; akkuma Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti isaanitti dubbate, Mootiin Waan Maraa dhaala isaanii ti.

¹⁰ Ani akkuma yennaa qaraa godhe, guyyaa afurtamaa fi halkan afurtama gaara irra ture. Mootiin Waan Maraa yennaa tanalle naa dhage'e. Inni isin balleessiisa hin feene.

¹¹ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa, «Akka isaan lafa ani abbootii isaaniitii kenniisaaf kakadhetti galanee dhaalanu, ka'iitii kolbaa tana sooressi» anaan jedhe.

Waaqa Sodaadhu

¹² Ammalle, ee Israa'el, Mootii Waan Maraa Waaqa keeti sodaatiisa, karaa isaa mara irra deemiisa, isa jaalatiisa, gadhaa keeti tokkoochaa fi lubbuu teeti takkatti'in isa tajaajiliisa malee, Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti maan si irraa barbaada?

¹³ Wonni dansaan akka sii teetuuf, ajajaa fi seerata Mootii Waan Maraa ka ani adha sii kennulle akka eegatu malee maan si irraa barbaada?

¹⁴ Ol-gubbaan, ol-gubbaan ol-gubbootaatu, lattii fi wonni isii irraa marti ta Mootii Waan Maraa Waaqa keetii ti.

¹⁵ Te'uu malee, Mootiin Waan Maraa abbootii teetitti gammaddee, isaan jaalatee, adhalee gosa biyya adda addaa mara keessaa si sanyii isaanii filateera.

¹⁶ Tanaaf, isa tajaajiliisaaf qalbii teessan haqanqabaa qabadha'a; hagonaa achi mata-jabeeyyii hin te'ina'a.

¹⁷ Sababille Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan, Waaqa waaqotaa, Goottaa goottotaa, Waaqa guddaa, hunnaamessa sodaatame, ka golii hin hunye, safuulle ka hin fudhanne.

¹⁸ Inni ijoollee abba'aa fi haadha hin qanneef, haadhotii hiyyeessaatiifille haqa mura. Inni alagaalle hin jaalata; sagale'ee fi woyaalle isaaf hin kenna.

¹⁹ Isinuu biyya Gibxi'ii keessatti alagaa teetanee waan beettanuuf, worra alagaa te'eeru jaaladha'a.

²⁰ Mootii Waan Maraa Waaqa keeti sodaadhuu, isa tajaajili. Isatti maxxaniitii, maqaa isaatiin kakadhu.

²¹ Inni ka ati leellifattu; Waaqa keeti ka adoo ati ila teetiin dhaggituu waan gugurdo'oo fi maade'ee ta sodaachittu ka si'iif godhe.

²² Abbootiin teeti nama torbaatama te'anee gara biyya Gibxi'iitti gad bu'ane. Amma Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti akka urjii gubba'aa si baceesseera.

11

Bu'aa Ajajamiisaa

¹ Mootii Waan Maraa Waaqa keeti jaaladhu; waan inni si irraa barbaadu seerata, seeraa fi ajajoota isaa yennaa mara eegadhu.

² Adabbii Mootii Waan Maraa Waaqa keessanii: Guddinna isaa, hunna jadduu isaa, irree isaa ta inni diriirse, dhaggitee ta beette ijoollee teessan adoo hin te'in, isin akka teetane adha qaabadha'a;

³ bilbaasotaa fi waan inni biyya Gibxi'ii keessatti mooticha Gibxi'iitii fi biyya isaa duudii irratti godhe,

⁴ yennaa isaan isin ari'iisatti jiranu, loltoota worra Gibxi'ii, fardoo isaaniitii fi garreettaa isaanii ka fardaan harkifamu waan inni godhe, attam akka inni bisaan abbaayaa Diintu'uu isaanirra garagalche, Mootiin Waan Maraa attam akka isaan balleesse, sababa saniif haga adhaa akka isaan farrane qaabadha'a.

⁵ Haga isin as geettanutti, waan inni goomolee keessatti isinii godhe ka dhagge, ijoollee teessanii moti.

⁶ Gosa Ruubenii keessaa ilmaan Eliiyaabii Daataanii fi Abiiramii waan inni godhe, Israa'eloota wodhakka'atti, latti afaan ifii banattee, maatii isaanii, dunkaanii isaaniitii fi horii isaanii akka liqinsite isaan hin dhaggine.

⁷ Ilti teessan ammoo waan gugurdoo Mootiin Waan Maraa godhe dhaggi-teerti.

⁸ Maarre laga Yordaanosii gamatti buutane, lafa dhaaltanutti galiisaaf, qabatiisaafille jabeenna akka qabaattanu, ajajoota ani adha isinii kennu kana mara eegadha'a.

⁹ Yoos, lafa Mootiin Waan Maraa abbootii teessan ta duriitii fi sanyii isaaniitiif kenniisaaf kakate, lafa aananii fi dammaa san keessa bara dheeraa hin leetan.

¹⁰ Latti ati itti galtee qabattu, akka lafa Gibxi'ii ta ati keessaa baatee dhuttee, ta yennaa midhaan itti facaafattu, akka addee oorru'uu, miilaan deddeebitee, bisaan obaafattuu moti.

¹¹ Latti isin laga Yordaanosii gamatti buutane qabattanu ammoo, lafa gaaraa fi dhooqa qaddu ta ol-gubbaa irraa roobi itti roobu.

¹² Lafa tana ka kunuunsu Mootii Waan Maraa Waaqa keessan; ilti Mootii Waan Maraa ta Waaqa keetii jalqaba wogga'aatii haga dhuma wogga'aatitti yennaa mara isii toowatti.

¹³ Maarre ati ajajoota ani adha sii kennu kana addatamumma'aa yoo eegatte, Mootii Waan Maraa Waaqa keeti jaalatee, gadhaa tokkochaaf fi lubbuu takkatti'iin yoo isa tajaajilte,

¹⁴ akka ati midhaan keeti, woynii teetii fi zayitii ejersaa teeti galfattu, inni lafa teeti irratti yennaa yennaa isaatitti rooba gannaatii fi hageyyaa hin roobisiisa.

¹⁵ Inni horii keetiif diida keessatti marra hin kenna; atille waan nyaattee quuttu hin qabaatta.

¹⁶ Ifi sossoddee yookiin duubatti deebitee waaqota dhibii akka hin waaqonfannee fi akka isaaniif hin saganne ifi eegadhu.

¹⁷ Yoo tana gootane, Mootiin Waan Maraa isinitti aaree, ol-gubbaa cufee bokkeenni akka hin buunee fi latti midhaan akka hin kennine hin godha. Isinille lafa dansaa Mootiin Waan Maraa isinii kennu irraa yoosuma hin baddan.

¹⁸ Jechoota kiyya kana gadhaa keessanii fi qalbii teessan keessatti qabadha'a; qaabbii akka isinii teetu harka keessan irratti hidhadha'a; adda keessan irralle'etti keyadha'a.

¹⁹ Ijoollee teessanille barsiisa'a. Yennaa mana teettanu, yennaa karaa deentanu, yennaa irkattanu, yennaa kaatanulle marroo jechoota kanaa haasowa'a.

²⁰ Mikikkila balbala mana keessaniitii fi karra dalleya keessanii irratti barreessa'a.

²¹ Yoo tana gootane, barri keessanii fi barri ijoollee teessanii lafa Mootiin Waan Maraa abbootii teessanii kenniisaaf kakate keessatti akka bara ol-gubbaa lafaan gubba'aa hin dheerata.

²² Ajajoota ani isinii kennu kana akka dansaa yoo eegattane, Mootii Waan Maraa Waaqa keessan yoo jaalattane, karaa isaa mara irra yoo deentane, isatti yoo maxxantane,

²³ Mootiin Waan Mara gosa biyya adda addaa tana mara isin duraa ari'ee baasee, isinille gosa biyya adda addaa ta isin caalaa bacattuu fi hunna qaddu akka isaan lafa san irraa ka'anuu hin gootan.

²⁴ Addeen miilli keessan ijatu marti teessan hin teeti: Meessaan lafa teessanii goomolee irraa ka'ee haga Libaanoniititti, akkasuma laga Efraaxiisii irraa ka'ee haga abbaayaa Mediteraaniya'aatitti hin badhata.

²⁵ Nami isin dura dubbatiisa dande'u hin jiru. Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan akkuma waadaa isinii galetti, addee isin dhaxxanu duudi'itti akka isin sodaatanee bararaqanu hin godha.

²⁶ Kunoo, ani adha eebbaf fi abaarsa isin dura keya.

²⁷ Ajajoota Mootii Waan Maraa Waaqa keessanii ka ani adha isinii kennu mara yoo eegattane, hin eebbifantan.

²⁸ Ajajoota Mootii Waan Maraa Waaqa keessanii yoo eegatuu diddane, karaa isaa ka ani adha isin ajaju kana irralle'ee yoo gortane, waaqota dhibii worra dur hin beenne yoo waaqonfattane, hin abaarantan.

²⁹ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti lafa ati itti galtee dhaaltutti yennaa si galche, gaara Geriiziimii irraa eebba, gaara Ebaalii irraa abaarsa hin lalladda.

³⁰ Gaaroti kun Yordaanosiin gama, lafa Kana'aanota Arabaayi keessa le'anuu keessa, karaa gara aduun seentu jiru, gara seensa adu'uutiin, fuullee qachaa Giilgalii, qilxaa Mooree biratti dhaggamanii motii ree?

³¹ Isin lafa Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan isinii kennutti galtanee fudhatiisaaf, laga Yordaanosii gamatti marroo buutunuuf, yennaa isii fudhattanee keessa leetanu,

³² seerataa fi seera ani adha isinii kennu mara muummessiisaaf ifi eegadha'a.

12

Addee Waaqonfanna'aa Takkattii

¹ Mootiin Waan Maraa Waaqi abbootii teessanii, lafa akka qabattanu isinii kennu keessa bara leetanu mara, seerataa fi seerri isin ifi eegatiisaan muummessitanu isaan kana.

² Addee gosi biyya adda addaa ta isin akka isaan isin duraa ka'anuu gootanu, ta isaan waaqota ifii itti waaqonfatanu ta gaarota dhedheera'aa fi koobota irraa, ta muka banqaqaa mara jalaalle ijumaa balleessa'a.

³ Addee ciinca'aa ta isaanii caccassa'aa diiga'a; soodduu woyyittii isaanii butucha'a; utuboota waaqa dharaa ta isaanii ta, «Asheeraa» jedhantuu ibiddaan guba'a; waaqota isaanii ka dharaa mura'aa jissa'a; maqaa isaanii addee san irraa balleessa'a.

⁴ Isin karaa isaan waaqota ifii ka dharaa waaqonfatanuun, Mootii Waan Maraa Waaqa keessan hin waaqonfatina'a.

⁵ Isin ammoo Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan gosa teessan mara keessaa, addee maqaan isaa akka itti waamamu, addee bultoo ifii godhatiisaafille inni filatu barbaada'aatii, achi dhaqa'a.

⁶ Achitti kennansa gubamuu fi ciincaa, kudhan keessaa tokkoo fi kennansa addaa, kennansa kenniisaaf waadaa galtane, kennansa fedhii teessanii, loon, hoole'ee fi re'ee teessan keessaa ka qara dhalatu dhikeessa'a.

⁷ Achitti fuula Mootii Waan Maraa Waaqa keessanii duratti hin nyaatin. Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan waan isin eebbiseef, isinii fi maatiin teessan Waan harka keessaniin hujjaneen hin gammaddan.

⁸ Isin akka nuuti adha nami martinuu akkuma itti fakkaatte godhu kana hin godhina'a;

⁹ Sababille isin addee fooraa lafa Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan isinii kennu ammalle hin geenne.

¹⁰ Te'uu malee, laga Yordaanosii gamatti buutane, lafa Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan dhaala godhee isinii kennu keessa yennaa qabattanu, nageyaan akka leetanu, inni diinota adaala keessan jiranu mara irraa isin hin foofachiisa.

¹¹ Achiin duuba addee Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan akka maqaan isaa itti waamanuuf, addee bultoo ifi godhatiisaaf filatetti, waan ani isin ajaju mara: kennansa gubamuu fi ciincaa, kudhan keessaa tokkoo fi kennansa addaa, qabeenna Mootii Waan Maraatii kenniisaaf waadaa galtanee adda baafattane hin fiddan.

¹² Achitti isin, ilmaan teessan, durra teessan, tajaajiltoota teessan ta dhiiraatii fi dubarti'ii, Lewwoota qachoota keessan keessa le'anuu ka gooda yookiin lafa ifii hin qanne woliin Mootii Waan Maraa Waaqa keessan duratti gammada'a.

¹³ Kennansa keeti ka gubamu adduma dhaggitetti akka hin ciincessine ifi eegadhu.

¹⁴ Gosa teeti keessaa addee Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti filatu qofatti ciincaa san ciinCESSI; achitti waan ani si ajaju mara godhi.

¹⁵ Te'uu malee akkuma eebba Mootiin Waan Maraa sii kennetti, qachoota keeti kamiyyuu keessatti horii keeti, akkuma buddanne'ee yookiin

gadansaa qaliitii foon haga barbaadde nyaadhu; akka aadaa dhugeeffanna'aatitti nami qulqulluu te'e yookiin qulqulluu hin te'inille foon san nyaatuu hin dande'a.

¹⁶ Dhiiga isaanii ammoo akka bisaanii lafatti gad dhangalaas malee hin nyaatin.

¹⁷ Midhaan, daadhii woyni'iitii fi zayitii ejersaa teeti harka kudhan keessaa harka tokko yookiin loon, hoole'ee fi re'ee teeti keessaa ka qara dhalate yookiin waan kenniisaaf waadaa galte mara, yookiin kennansa fedhii teetiin kennitu yookiin kennansa keeti ka addaa qachaa keeti keessatti hin nyaatin.

¹⁸ Addee Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti sii filutti ati, ilmaan teetii, durra teeti, tajaajiltoota teeti ta dhiiraatii fi ta dubarti'ii, Lewwoota qachaa keeti keessa le'anuu waliin Mootii Waan Maraa Waaqa keeti duratti kennansa kana nyaadhu; waan harka keetiin hujjelle'een gammadi.

¹⁹ Lafa teeti keessa haga leetu, worra Lewwootaa akka hin deene ifi eegadha'a.

²⁰ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti akkuma waadaa sii galetti, lafa teeti yennaa sii badhisu, ati foon dharraatee, «Ani foon fedha» yennaa jette, akkuma barbaaddetti foon nyaatuu hin dandeetta.

²¹ Addeen Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti maqaan isaa akka itti waamuuf filate si irraa guddoo yoo fagaatte, akkuma ani si ajajetti loon yookiin hoole'ee fi re'ee Mootiin Waan Maraa sii kenne keessaa qalattee, qachaa keeti keessatti haga barbaadde nyaatuu hin dandeetta.

²² Eennulle nami aadaa dhugeeffanna'aatiin qulqulluu te'e yookiin qulqulluu hin te'in akkuma foon gadansaa yookiin foon buddanne'ee nyaatuu hin dande'a.

²³ Ati ammoo dhiiga akka hin nyaanne hubadhu; dhiigi lubbuu waan te'eef, lubbuu foon waliin hin nyaatin.

²⁴ Dhiiga akkuma bisaanii lafatti dhangalaas malee hin nyaatin.

²⁵ Ati ila Mootii Waan Maraa duratti waan sirrii te'e yennaa hujju, si'ii fi ijoollee si'iin duubaatiif akka toltu dhiiga hin nyaatin.

²⁶ Waan keeti ka woyyuu te'ee fi waan Mootii Waan Maraatiif kenniisaaf waadaa galte ammoo fudhadhuutii gara addee Mootiin Waan Maraa filante san dhaqi.

²⁷ Kennansa keeti ka gubamu foonii fi dhiiga addee ciinca'aa ta Mootii Waan Maraa Waaqa keetii irratti dhikeessi. Dhiigi ciincaa keetii addee ciinca'aa ta Mootii Waan Maraa Waaqa keetii cina'atti dhangalaafamuu ti; foon ammoo nyaatuu dandeetta.

²⁸ Ila Mootii Waan Maraa Waaqa keetii duratti waan dansa'aa fi sirrii te'e waan hujjuuf, si'ii fi ijoollee teeti ta si'iin duubaatiif haga bara baraa akka toltuuf, ajajoota ani adha siif kennu mara muummessiisaaf ifi eegadhu.

²⁹ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti, lafa ati qabatiisaa dhaxxu irraa gosa biyya adda addaa si duraa ijumaa hin balleessa; atille lafa isaan irraa fudhatte keessa yennaa qabutte,

³⁰ isaan badaneen duuba, «Anille akkuma isaanii akka godhuuf, gosi biyya adda addaa tun attamiin waaqota ifitiif tajaajilan?» jettee marroo waaqota isaanii iyyaafattee tiyyo'otti akka hin galle ifi eegadhu.

³¹ Ati Mootii Waan Maraa Waaqa keeti karaa isaan waaqonfatanuun hin waaqonfatin. Sababille isaan waaqota ifii yennaa waaqonfatanu, waan diqachiisu ka Mootiin Waan Maraa jibbu mara godhan. Isaan ijoollee ifituu ilmaan fi ijoollee ifii ta durraa ibidda addee ciinca'aa irratti waaqota ifitiif ciinnessan.

³² Kunoo, waan ani si ajaje mara godhi; waan tokkolle itti hin dabalini yookiin irraa hin dhidhisin.

13

¹ Raagichi tokko yookiin nami oojju'uun moru tokko odduu teessanii ka'ee, bilbaasa yookiin maadee yoo isinitti hime,

² bilbaasii fi maadeen inni dubbate yoo teete, innille, «Kowa'a, waaqota dhibii hordonna; isaan waaqonfanna» jedhee waaqota dur isin hin beennetti yoo isin geesse,

³ isin raagicha san yookiin nama oojju'uun moru san hin dhage'ina'a. Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan, akka isin gadhaa keessan tokkochaa fi lubbuu teessan takkatti'iin isa jaalattanu haga isin ilaaliisatti jira.

⁴ Mootii Waan Maraa Waaqa keessan hordofa'a; isa sodaadha'a; ajajoota isaa eegadha'a; isaaf ajajama'a; isa tajaajila'a; isatti maxxana'a.

⁵ Raagichi sun yookiin nami oojju'uun moru sun, Mootii Waan Maraa Waaqa keessan ka biyya Gibxi'ii keessaa isin baasee, garbummaa biyya Gibxi'ii jalaa ka isin wode akka finqiltanu waan lallabuuf ijeefamuu qaba. Inni karaa Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan akka isin hordottanu isin ajaje irraa akka isin gortanu wodhaana. Akka kanaan waan hantuu odduu teessanii balleessa'a.

⁶ Obboleessi keeti yookiin ilmi keeti yookiin intalti teeti yookiin niitiin teeti ta ati jaalattu yookiin jaalli keeti ka lubbu'uu, «Koy dhandhee waaqota dhibii waaqonfannaa» jedhee dhossa'aan si hawadatee, waaqota atii fi abbootiin teeti ijjumaa hin beenne, akka waaqonfattuuf,

⁷ «waaqota kolbaa adaala keetii ta dhikoo yookiin fagoo, qaccee lafa tokkoo irraa haga lafa taaniititti jirtuu, hin waaqonfanna» yoo jedhe,

⁸ ati isaaf tole hin jedhin yookiin isa hin caqasin. Isaaf hin mararin. Isa hin lakkisin yookiin hin dhossin.

⁹ Gadhaa adoo hin guurin isa ijeesi! Ati matooma dhaka'aan isa tumi; achiin duuba kolbaan marti dhaka'aan isa tuntuu ti.

¹⁰ Inni Mootii Waan Maraa Waaqa keeti ka lafa garbummaa'aa biyya Gibxi'ii keessaa si baase irraa si fageessiisaaf waan wodhaaneef, dhaka'aan tumii isa ijeesi.

¹¹ Achiin duuba kolbaan Israa'elii tana yoo dhageette hin sodaatti; odduu teessan nami waan hantuu akkasii deebi'ee huju hin jiraatu.

¹²⁻¹³ Qachoota Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan isiniif kennu keessa yennaa leetanu, namooti hamooleen odduu teessanii ka'anee, waaqota isin ijjumaa hin beenne, «Kowa'a, dhandhee waaqota dhibii waaqonfanna» jedhanee kolbaa ifii dokonkorsanuun yoo dhageettane,

¹⁴ iyyaafadha'aa, qorqora'aatii, miidhassa'aa gaafadha. Wonni hantuun akkasii tun odduu teessanitti hujantee yoo jiraatte,

¹⁵ worra qachaa san keessa le'anuu mara shallaaga'aan ijeesi. Qachaa san kolba'aa fi horii isaa mara woliin ijjumaa balleessi.

¹⁶ Waan qachaa san keessaa booji'ame mara wodhakkaa addee dikko'ootitti wolitti qabiitii, akka kennansa duuduma gubamuu, ka Mootii Waan Maraatiif dhikaatuu godhiitii qachaa sanii fi waan booji'ame san mara gubi. Qachaan sun haga bara baraa tuulaa bututaa te'ee hafuu malee, ijjumaa deebi'ee hin ijaaramin.

¹⁷ Akka Mootiin Waan Maraa aarii ifii ta bobeettu irraa deebi'ee, isiniif mararu, wonni Mootii Waan Maraatiif murteeffame tokkolle harka keeti keessatti hin dhaggamin; inni akkuma abbootii teessan ta duriitiif waadaa

galee kakate, isiniif hin marara; isiniif hin naya; laakkossa keessanille hin baceessa.

¹⁸ Isin Mootii Waan Maraa Waaqa keessaniif ajajantanee, ajaja isaa ka ani adha isiniif kennu mara yoo eegatane, ila isaa duratti waan sirrii te'e yoo hujjane innille tana isiniif hin godha.

14

Aadaa Bowaa Ta Dhooggante

¹ Isin ijoollee Mootii Waan Maraa Waaqa keessanii ti. Nama du'eef nafa keessan ifi hin mummurina'a; mataa* keessanille hin haadatina'a.

² Isin kolbaa Mootii Waan Maraa Waaqa keessaniif woyyoontane waan teetaneef, inni qabeenna isaa ka addaa akka teetanuuf, kolbaa biyya lafaa irra jirtu mara keessaa isin filateera.

Sagalee Qulqullu'uu Fi Qulqulluu Hin te'in (Lew. 11:1-47)

³ Waan battii te'e tokkolle hin nyaatina'a.

⁴ Tanaaf hori'ii fi bineensi isin nyaattanu: loon, hoolee, re'ee,

⁵ gadansa, buddanee, gadansa gaafa torbaa, godaa, qorkee, busowaa, hoolee gaaraa,

⁶ hori'ii fi bineensa keessaa ka kotteen isaanii baqaqa qaddu, ka alalfatanu nyaadhu.

⁷ Hori'ii fi bineensota alalfatanu ka kotteen isaanii baqaqa hin qanne, gaala, hilleensaa fi osolee hin nyaatina'a.

⁸ Booyyeen kotteen isi'ii baqaqa yoo qabaattelle, waan hin alalfanneef, aadaa dhugeeffanna'aatiin isin biratti battii teetuu ti; hin nyaatina'a. Reeffa isi'iille hin tuqina'a.

⁹ Dada bisaan keessa leetu mara keessaa ta koolaa fi solloqqee qaddu mara nyaadha'a.

¹⁰ Dada bisaan keessa leetu ta koolaa fi quncee hin qanne mara hin nyaatina'a. Isaan isin biratti battii te'anuu ti.

¹¹ Sinbirroota qulqulloota te'ane mara nyaatuu hin dandeettan.

¹² Sinbirrooti isin hin nyaanne ammoo: risaa, allaattii, rumicha,

¹³ culullee, jajjuu, culullee gosa adda addaa,

¹⁴ harraaqessa gosa adda addaa,

¹⁵ guchii, baabboo, haanqaa, balguda gosa adda addaa,

¹⁶ urunguu, qillisaa, alaakaa,

¹⁷ qongaa, allaattii gosa adda addaa, huummoo,

¹⁸ fududdee, dhaatii gosa adda addaa, looyyitu'uu† fi cirrichoo fa'a.

¹⁹ Dadi didiqoon koolaan ka'anuu marti isiniif ka battowane te'anuu ti; isaan hin nyaatina'a.

²⁰ Isaan keessa ka qulqulluu te'ane ammoo nyaadha'a.

²¹ Isin kolbaa Mootii Waan Maraa Waaqa keessaniif woyyoontane waan teetaneef, waan ifiin du'e mara hin nyaatina'a; alagaan qachaa keessan keessa jiru akka nyaatu kenna'aaf yookiin ormaaf gurgura'a.

Ilmee re'e'ee aanan haadha isi'iitiin hin iffeelina'a.

Kudhan Keessaa Tokko

²² Midhaan wogguma wogga'aan fichaa keeti keessaa galfattu mara irraa, harka kudhan keessaa tokko adda baasi.

* **14:1** Mataa: Afaan Ibrootaatiin rifeensa gaara ilaa odduu jiru jedha. † **14:18** Looyyituu: Gosa sinbirre'ee ti. Isiin lafa tokko tokkotti tuuttujaa jedhanti.

²³ Yennaa mara Mootii Waan Maraa Waaqa keeti sodaatiisa akka barattu, midhaan keeti keessaa, daadhii woyni'ii haareya teeti keessaa, zayitii ejersaa teeti haareya keessaa ka matoomaa, loon, hoole'ee fi re'ee teeti keessaa ka qara dhalatu addee Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti akka maqaan isaa itti waamamuuf filattetti isa duratti nyaadhu.

²⁴ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti si eebbiseeruun kudhan keessaa tokko geessiisaaf, addeen Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti akka maqaan isaa itti waamamuuf filate, si irraa guddoo yoo fagaatte,

²⁵ kudhan keessaa tokko san gara beese'ee jijjiiriitii, beesee san qabadhuutii, gara addee Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti akka maqaan isaa itti waamamuuf filate san dhaqi.

²⁶ Achitti beesee saniin waan jaalatte mara: loon, hoolee, daadhii woyni'ii yookiin untoo macheessitu yookiin waan halchite mara bitadhu; achiin duuba atii fi maatiin teeti Mootii Waan Maraa Waaqa keessan duratti nyaadha'aatii gammada'a.

²⁷ Lewwooti qachaa keeti keessa le'anuu, qooda yookiin lafa ifii waan hin qanneef isaan hin dedhin.

²⁸ Dhuma woggaa sadeesso'oo mara, midhaan woggaa sanii keessaa kudhan keessaa tokko fidiitii, qachoota keeti keessatti kuufadhu.

²⁹ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti hujii harka keetiitiin akka si eebbisuuf, Lewwooti qooda yookiin lafa ifii hin qannee fi alagaan, ijoolleen abba'aa fi haadha hin qannee fi haadhotiin hiyyeessaa ta qachoota keessan keessa le'anuu dhufanee nyaatanee quufanuu ti.

15

Woggaa Liqaan Namaaf Itti Lakkifamu (Lew. 25:1-7)

¹ Dhuma woggaa torbeesso'ootitti liqaa worra si irraa liqeeffatee lakkisiif.

² Akki ati liqaa namaaf lakkittu asii gad jira; Mootiin Waan Maraa liqaan akka namaaf lakkifamu waan lasseeruuf, nami liqeessu marti, obboleessa ifii nama Israa'eliitiif liqaa liqeesse isaaf lakkisuu ti.

³ Liqaa ormaaf liqeessite gaafatuu hin dandeetta; liqaa obboleessi keeti nami Israa'elii si irraa liqeeffate maraayyuu lakkisiif.

⁴ Te'uu malee, lafa Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti akka ati dhaaltuuf, sii kennu keessatti, guddoo waan si eebbisuuf, odduu teeti hiyyeessi hin jiraatu.

⁵ Mootii Waan Maraa Waaqa keetiif yoo ajajante, ajaja ani adha sii kennu kana maralle miidhassitee yoo eegatte qofa tun sii teeti.

⁶ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti akkuma waadaa sii gale waan si eebbisuuf, ati gosa biyya adda addaa heddu'uuf hin liqeessita malee, ennun irralle'ee hin liqeeffattu. Ati gosa biyya adda addaa hedduu hin bulchita malee, ennulle si hin bulchu.

⁷ Obboleessi keeti Israa'elichi qachoota lafa Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti sii kennu keessa worra le'anuu keessaa nami tokko hiyyeessa yoo te'e, inni obboleessa keeti waan te'eef, gadhaa itti jabaattee, isa qarqaaruu hin didin.

⁸ Tanaa mannaa, arjoomiitii haga isaaf barbaachisu mara liqeessiif.

⁹ Ati, «Woggaa torbeesso'oo ka liqaan namaaf itti lakkifamu geyeera» jettee, yaad hamaan qalbii teeti keessa seenee, obboleessa keeti dhabaa sanitti gadhaa jabaattee, adoo isaaf woy hin kennin hin hafin; innille gara Mootii Waan Maraa iyyee, ati yakkaamessa akka hin teene ifi eegadhu.

¹⁰ Ati yennaa isaaf kennitu gammadaan kenniif malee hin qucuucamin. Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti hujii teeti maraa fi waan harki keeti tuqe maraan si hin eebbisa.

¹¹ Worri hiyyeeyyiin yoomille lafa irraa hin dhabamu. Tanaaf, ani obboleeyyan teeti Israa'elootaaf, worra hiyyeeyyi'ii fi worra rakkataa lafa teeti keessaatiif akka kennitu si ajaja.

Garboolee Bilisa Baasuu

¹² Sanyii Ibrootaa keessaa dhiirti yookiin dubartiin yoo sitti gurguramane, nami sitti gurgurame sun woggaa jaa si tajaajiluu ti; woggaa torbeesso'oo keessa nami sun si irraa bilisa bayuu ti.

¹³ Yennaa inni si irraa bilisa bayu, ati harka duwwaa isa hin lakkisin.

¹⁴ Akkuma Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti si eebbiseti hoole'ee fi re'ee teeti keessaa, midhaan eeddummee teeti keessaatii fi daadhii woyni'ii teeti irraa isaaf kenni.

¹⁵ Ati biyya Gibxi'ii keessatti garba teeteertuun, Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti bilisa akka si baase qaabadhu. Tanaaf ani adha si ajaja.

¹⁶ Garbichi keeti sun ammoo, si bira tee'iisi waan isatti toleef, si'ii fi maatii teeti waan jaalateef, «Ani si biraa hin deemu» yoo siin jedhe,

¹⁷ gara balbala mana keetii geessiitii, muta'aan gurra isaa uri; achiin duuba inni bara jiruu ifii garbicha keeti hin te'a. Garbittii teetille akkasuma godhi.

¹⁸ Yennaa bilisa isa baattu, tajaajilaan qaxarama tokko woggaa jaa ka sii huju caalaa dachaa lama, waan sii hujeef, isa bilisa baasuun sitti hin ulfaatin. Ati tana godhi; Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti waan ati gootu maraan si hin eebbisa.

¹⁹ Loon keeti keessaa jiboota, hoole'ee fi re'ee teeti keessaa korbeeyyii qara dhalatanu, Mootii Waan Maraa Waaqa keetiif adda baasi. Jiboota qara dhalatteen hin qotin; korbeeyyii hoole'ee ta qara dhalatte rifeensa irraa hin murin.

²⁰ Addee Mootiin Waan Maraa filatutti atii fi maatiin teeti Mootii Waan Maraa Waaqa keessan duratti woggaa wogga'atti jibootaa fi korbeeyyii san hin nyaattan.

²¹ Horiin sun ammoo fafa tokko yoo qabaate, naafa yookiin ballaa yookiin fafa hamaa yoo qabaate, Mootii Waan Maraa Waaqa keetiif hin ciinnessin.

²² Horii akkasii kana qachuma keessan keessatti akkuma buddanne'ee yookiin akkuma gadansaa nyaatuu hin dandeettan. Akka aadaa dhugeeffanna'aatitti nami qulqulluu te'e yookiin ka qulqulluu hin te'inille nyaatuu hin dande'a.

²³ Dhiiga horii sanii ammoo, akkuma bisaanii lafatti dhangalaasa'a malee hin nyaatina'a.

16

Jila Irra Dabaramaa

(Bay. 12:1-20)

¹ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti ji'a «Abiib» jedhamu halkaniin biyya Gibxi'ii keessaa waan si baaseef, ji'a kana keessa Mootii Waan Maraa keetiif Jila Irra Dabaramaa jilifadhu.

² Addee Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti akka itti waaqonfamuuf filatu sanitti, hoole'ee fi re'ee teeti keessaa yookiin loon keeti keessaa filiitii ciincaa Jila Irra Dabaramaa Mootii Waan Maraa Waaqa keetiif ciinnessi.

³ Foon ciinca'aa san daabboo uukoo qadduun hin nyaatin. Ati ariiti'iin biyya Gibxi'ii keessaa waan baateef, bara le'ii teetii mara guyyaa biyya

Gibxi'ii keessaa baate san akka qaabattuuf, guyyaa torba daabboo uukoo hin qanneen nyaadhu. Isiin daabboo rakkinnaa ti.

⁴ Guyyaa torba san keessatti lafa teeti mara keessatti uukoon hin dhaggamin. Foon ati guyyaa qaraa galgala ciincaa dhikeessite halkan san irraa hafee haga ganamaatitti hin turin.

⁵ Ciincaa Jila Irra Dabaramaa, qachoota Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti sii kennu keessaa tokko keessalle'etti hin dhikeessin.

⁶ Garuu addee Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti maqaan isaa akka waa-mamuuf filatutti, yennaa aduun seentu, saatii ati biyya Gibxi'iitii baatetti dhikeessi.

⁷ Addee Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti filatutti foon iffeeliitii nyaadhu; ganama gara dunkaanii teetii deebi'ii deemi.

⁸ Guyyoota jaa daabboo uukoo hin qanne nyaadhu; guyyaa torbeesso'oo Mootii Waan Maraa Waaqi keetiif yaa'iin woyyittiin godhantuu ti; guyyaa san hin hujin.

Jila Torbaan Torbaa

⁹ Guyyaa midhaan haamamiisa jalqabeen kaasiitii torbaan torba laakkowiisa jalqabi.

¹⁰ Achiin duuba akkuma Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti si eebbisetti, kennansa fedhii teetii dhikeessiisaan, jila torbaan torbaa Mootii Waan Maraa Waaqi keetiif jilifadhu.

¹¹ Ati, ilmi keeti, intalti teeti, tajaajilaan keeti, tajaajiltuun teeti, worri Lewwootaa ka qachoota keeti keessa jiranu, worra alagaa, ijoollee haadhaa fi abbaa hin qannee fi dubartii haadhotii hiyyeessaa ta odduu teessan jiranu waliin addee Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti akka maqaan isaa itti waamamuuf filatutti, Mootii Waan Maraa duratti gammadi.

¹² Atille dur biyya Gibxi'ii keessatti garba akka teete qaabadhu; seerata kana akka dansaa eegadhu.

Jila Gose'ee

(Lew. 23:33-43)

¹³ Midhaan keeti eeddummee irraa, midhaan woynii teetiille addee itti cunfantu irraa galfatteen duuba, guyyaa torba jila gose'ee jilifadhu.

¹⁴ Atii fi ilmi keeti, intalti teetille, tajaajilaan keeti, tajaajiltuun teeti, Lewwooti, worri alaga'aa, ijoolleen haadhaa fi abbaa hin qannee fi haadhotiin hiyyeessaa ta qachoota keeti keessa jiranulle jila tanatti gammada'a.

¹⁵ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti, midhaan keetii fi waan ati hujattu maraan waan si eebbisuuf, addee inni filatutti jila tana Mootii Waan Maraa Waaqi keetiif, guyyaa torba jilifadhu.

¹⁶ Dhiirti teeti marti addee Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti filatutti, wogga'atti yennaa sad Jila Irra Dabaramaa, Jila torbaan torbaatii fi Jila Gose'ee jilifatiisaaf wolitti qabamanuu ti. Isaan jilaaf yennaa dhufanu harka duwwaa Mootii Waan Maraa dura hin dhufin.

¹⁷ Nami martinuu akkuma Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti isa eebbisetti kennuu ti.

Abbootii Mura'aa Filuu

¹⁸ Qachoota Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti sii kennu mara keessatti akkuma gosa gosa teetiititti, abbootii mura'aatii fi bulchitoota fili. Isaan adoo wol hin caalchisin kolba'aaf mura kennuu qaban.

¹⁹ Mura hin dassin; nama woli hin caalchisin; safuun ila worra qaroole'ee balleessitee, dubbii worra balchoole'ee waan micciirtuuf, safuu hin fudhatin.

²⁰ Ati akka jiraattuuf, lafa Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti sii kennulle akka dhaaltuuf, haqa, haqa qofa hordofi.

Waaqonfannaa Dhooggamane

²¹ Addee ciinca'aa ta Mootii Waan Maraa Waaqa keetii biratti utubaa waaqa dharaa ta «Asheeraa» jedhantuu hin dhaabin.

²² Utuboota dhaka'aa ka Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti jibbulle hin dhaabin.

17

¹ Mootii Waan Maraa Waaqa keetiif diqachiisaa waan te'aneef, loon yookiin hoolee teeti keessaa ka fafa qabanu, Mootii Waan Maraa Waaqa keetiif hin ciincessin; inni kana hin jibba.

² Qachoota Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti sii kennu keessatti dhiirti yookiin dubartiin odduu teessanitti, fuula Mootii Waan Maraa Waaqa keetii duratti waan hantuu hujanee Gondooroo isaa yoo diigane,

³ waan ani isaan dhoogge waaqota dhibii tajaajilane yoo isaan waaqon-fatane yookiin aduu yookiin ji'a yookiin urjii yookiin dada ol-gubba'aa tokkole'eef yoo sagadane,

⁴ oduun akkasii sitti himamee yennaa dhageette jabeessii qorqori; wonni badduun tun Israa'el keessatti te'iis isi'ii dhugaa yoo teete,

⁵ dhiira yookiin dubartii san qachaa keessaa gara karraa baasiitii, dhaka'aan tumiitii ijjeesi.

⁶ Nami ijjeefamu sun, nami lama yookiin sad yoo isa irratti dhugaa baye malee, dhugaa baya nama tokkootiin hin ijjeefamin.

⁷ Isa ijjeesiisaaf qara dhugaa baatoti, achiin duuba kolbaan marti dhaka'aan isa tumanuu ti. Akka kanaan waan badduu mara odduu teessanii hin balleessita.

Seera Muraa Ittiin Kennanu

⁸ Dubbiin dhiiga dhangalaasiisaa, dubbiin marroo qabeenna namaa, dubbiin dhowanee nama miidhiisaa yookiin dubbii dhibii tana fakkaattu ta qachaa keeti keessatti kaatu irratti, muraa itti kenniisa yennaa dadhaddu, addee Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti filatutti geessiitii,

⁹ worra Lewwootaa hayyootaa fi worra yennaa san abbootii mura'aa te'erutti yaada san dhikeessi. Yennaa san isaan muraa san sitti hin himan.

¹⁰ Atille waan isaan addee Mootiin Waan Maraa filatu sanitti sitti himane godhi. Waan isaan sitti himane mara sirri'itti hujii irra oolchi.

¹¹ Akka seera isaan barsiisane fi murtee isaan kennanetti hujadhu malee, isii irraa gara middaatitti yookiin gara bita'aatitti hin gorin.

¹² Nami tokko abbaa mura'aa yookiin hayyicha Mootii Waan Maraa Waaqa keeti tajaajiluuf ajajamuu didee yoo tuffate inni ijjeefamuu ti; akka kanaan waan hantuu Israa'el keessaa mara hin balleessita.

¹³ Achiin duuba nami marti tana dhage'ee hin sodaata; deebi'ee waan hantuu hujiisaaf itti hin gamu.

Seera Marroo Moototaa

¹⁴ Lafa Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti sii kennu dhaaltee, achi keessa qubatteen duuba, «Ani akkuma gosa biyya adda addaa ta adaala kiyyaa mootii hin mootonfadha» yoo jette,

¹⁵ obboleeyyan teeti keessaa ka Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti sii filu mootonfadhu malee, nama ormaa ka obboleessa keeti hin te'in mootii hin godhatin.

¹⁶ Mootichi sun fardoo bacaa hin horatin; Mootiin Waan Maraa, «Karaa kanaan lammeessoo hin deebi'ina'a» waan jedheeruuf, akka kolbaan fardoo bacaa horatiisaaf gara biyya Gibxi'ii dhaxxu hin godhin.

¹⁷ Qalbiin isaa karaa irraa akka hin gorreef, mootichi sun niitolee hedduu hin qabaatin; meeti'ii fi worqii bacaalle hin tuulatin.

¹⁸ Inni barcumaa mootummaa ifii irra yennaa tee'u, kitaaba Lewwoota hayyoota bira jiru ka seerri Waaqaa irratti barreeffameeru kana irraa barreeffatee, woraabbii tokko qabaatuu ti.

¹⁹ Inni jechoota seeraa fi seerata kanaa mara eegatiisaan, muummessiisalle'een, Mootii Waan Maraa Waaqa ifii sodaatiisa akka ittiin baratu, isa bira tee'uu ti. Inni bara jiruu ifii mara isa dubbisuu ti.

²⁰ Obboleeyyan ifii Israa'eloota irratti akka inni hin koorre, Israa'el keessatti mootummaan isaatii fi ijoolleen isaa bara dheeraa akka jiraatanu, ajaja Waaqaa irraa gara middaa yookiin gara bita'aa akka inni hin gorre isa eega.

18

Qooda Hayyootaa

¹ Gosi Lewwootaa hayyooti, gosi Lewwootaa martinuu, sagalee kennansa Mootii Waan Maraatiif dhikaattu qooda ifii godhatanee nyaatanuu ti malee, Israa'el keessatti qooda lafaa yookiin dhaala tokkole hin fudhatin.

² Inni akkuma waadaa isaaniif galetti Mootiin Waan Maraa dhaala isaanii ti; tanaaf isaan obboleeyyan ifii Israa'el keessatti lafa hin qabanu.

³ Loon yookiin hooleen yennaa ciinca'aaf dhikaatanu, hayyooti harka, bogo'oo fi gadhaacha hin fudhatan.

⁴ Midhaan keeti keessaa, daadhii woyni'ii teeti keessaa, zayitii ejersaatii fi rifeensa hoolee teeti irraa murame irralle'ee mataa isaaniif kenni.

⁵ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti gosa teeti keessaa Lewwi'ii fi ilmaan isaa haga bara baraa hayyumma'aan dhaabbatanee maqaa isaatiin akka tajaajilanu isaan filate.

⁶ Nami Lewwi'ii tokko, qachoota Israa'el keessa jiranu keessa addee le'uu bayee, fedhii guddo'oon, gara addee Mootiin Waan Maraa filatuu yoo dhufe,

⁷ inni akkuma Lewwoota obboleeyyan isaa worra Mootii Waan Maraa tajaajiliisaaf achi isa dura dhaabbatanuu, maqaa Mootii Waan Maraa ifitiin tajaajiluu hin dande'a.

⁸ Waan dhaala abbaa ifii ka gurgurame keessaa dhaggatu biratti, innille nyaata worra kaan woliin wol qixxee qooda qaba.

Aadaa Battii

⁹ Isin lafa Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan isinii kennutti yennaa galtane, aadaa battii gosa biyya adda addaa san hin baratina'a.

¹⁰ Nami ilma ifii yookiin intala ifii kennansa gubamuuf dhikeessu yookiin worri moru, nami moora ilaalu, nami faroo ilaalu,

¹¹ nami xanoo xanu, nami ayyaana hamaa waammatu, nami moru, nami worra du'ane waammatu odduu teessan hin jiraatin.

¹² Nami waan akkanaa godhu Mootii Waan Maraa duratti batticha; sababa hujii battii akkasiitiif, Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti isaan oofee si duraa hin baasa.

¹³ Ati Mootii Waan Maraa duratti ka komii hin qanne te'i.

Raagicha Dhibii Ka Akka Muuse'ee

¹⁴ Worri isin achi keessaa baasaartanu, worra xanoo xanuu fi worra moru caqasan; isin ammoo tana akka gootanu Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan isiniif hin eeyyamu.

¹⁵ Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan kolbaa teessan keessaa raagicha akka kiyyaa isiniif hin kaasa; isin isa caqasa'a.

¹⁶ Tun martinuu akka halchaa teessanii ta isin guyyaa yaa'ii gaara Si-ina'aa, «Nuuti akka hin duune, deebinee qoonqoo Mootii Waan Maraa Waaqa keennaa akka hin dhageenne, ibidda guddaa kanalle deebitanee akka hin dhaggine» jettanee Mootii Waan Maraa Waaqa keessan daadimattanee ti.

¹⁷ Mootiin Waan Maraa anaan, «Wonni isaan jedhane sirri'i.

¹⁸ Ani raagicha akka keetii kolbaa isaanii oddu'uu isaaniif hin kaasa; jecha kiyya afaan isaa keessa hin keya; inni waan ani ajaju mara isaanitti hin hima.

¹⁹ Nama jecha kiyya ka inni maqaa kiyyaan dubbatu caqasuu didu mara ani hin adaba.

²⁰ Raagichi tokko adoo ani dubbatiisaaf isa hin ajajin, dubbii tokko maqaa kiyyaan ka dubbatu yookiin maqaa waaqota dhibi'iitiin ka dubbatu ijjeefamuu ti» jedhe.

²¹ Isin gadhaa keessan keessatti, «Jecha Mootiin Waan Maraa hin dubbatin san attamiin beekuu dandeenna?» yoo jettane,

²² Raagichi tokko maqaa Mootii Waan Maraatiin dubbatee, jechi sun muummowuu yookiin dhugaa te'uu yoo dhabe, jechi sun ka Mootiin Waan Maraa dubbatee moti; raagichi sodaa malee waan dubbateef isa hin so-daatina'a.

19

Qachoota Itti Baqatanu

(Lak. 35:9-34; Iya. 20:1-9)

¹ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti gosa biyya adda addaa ta lafa isaanii ka sii kennu yennaa balleesse, qachoota isaaniitii fi mana isaanii dhaaltee achi keessa le'iisa yennaa jalqaddu,

² lafa Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti akka ati dhaaltuuf sii kennu keessaa qachoota sad adda baafadhu.

³ Nami nama ijjeese tokko achitti akka baqatuuf, lafa Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti akka ati dhaaltuuf sii kennutti, karaa baasiitii lafa san addee saditti goodi.

⁴ Nami tokko duraan diinummaa isaa adoo hin qabaatin, adoo hin beekin, nama tokko yoo ijjeese, qachoota kana keessaa gara tokkootitti baqatee lubbuu ifii hamburatu ti.

⁵ Nami tokko muka muriisaaf, nama tokko woliin baddaa seenee, muka muriisaaf harka yennaa ol fudhatu, agaraan sukkeya keessaa bu'ee, nama isa woliin jiru san dhowee, nami sun yoo du'e, nami ijjeese sun qachoota san keessaa gara tokkootitti baqatee, lubbuu ifii hamburatu ti.

⁶ Worri namicha du'ee, ka namicha ijjeese haluu baasiisaaf haajaa qabanu sun aaranee isa hin ari'an. Qachaan itti baqatanu sun fagoo yoo te'e, inni duraan namicha irraa haluu adoo hin qabaatin waan ijjeeseef, ka du'iisaaf hin malle te'ulle, worri namichaa reebbe isa dhaqqabee hin ijjeesa fa'a.

⁷ Ani tanaaf akka ati qachoota sad adda baafattuuf si ajaje.

⁸ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti lafa, «Ani isiniif kenna» jedhee abbootii teetiif kaku'uun waadaa gale mara sii kennee lafa teeti yoo sii badhise,

⁹ ati ajaja inni adha si ajaju mara yoo eegatte, Mootii Waan Maraa Waaqa keeti yoo jaalatte, guyyaa mara karaa isaa gula yoo deente, qachoota dur adda baafatte sanitti qachoota dhibii sad itti dabalattee adda hin baafatta.

¹⁰ Lafa Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti sii kennu keessatti, dhiigi nama yakkaa hin qannee akka hin dhangalaane, dhiiga dhangalu'uufille akka itti hin gaafatanne tana godhi.

¹¹ Ammoo nami tokko nama haluu irraa qabu tokko riphee eegee, dhowee ijjeesee, lubbuu ifii hamburatiisaaf qachoota kana keessaa tokkochatti yoo baqate,

¹² jaarsoleen qachaa isaa nama itti erganee achii isa fichisiisane, akka inni du'uuf dabarsanee fira dhiiga baafatutti isa kennanuu ti.

¹³ Ati ila mararti'iitiin isa hin ilaalin. Nageenni akka si'iif te'u Israa'el keessaa nama dhiigi nama yakkaa hin qannee dhangalaase ijjeesi.

Meessaa Durii Dabaruu Dhabuu

¹⁴ Lafa Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti akka ati dhaaltuuf sii kennu keessatti, meessaa ollaa keetii ka worri durii dhaabe hin dhiibin.

¹⁵ Yakkaa yookiin cubbuu nami tokko huje mirkaneessiisaaf, afaan dhugaa baatota lamaa yookiin sadiitiin malee afaan nama tokkochaatiin itti hin mirkaneeffamu.

¹⁶ Nami dharaan dhugaa bayu tokko ka'ee nama tokko dharaan yoo himate,

¹⁷ jarri wol himatane sun lamaanuu fuula Mootii Waan Maraa duratti, hayyootaa fi abbootii mura'aa ta bara sanii dura dhikaatanuu ti.

¹⁸ Abbootiin mura'aa dubbii san gad fageennaan qorqoranuu ti; namichi dharaan dhugaa bayu sun obboleessa ifii irratti dharaan dhugaa bayee yoo jiraate,

¹⁹ waan inni obboleessa ifii irratti tolchiisaaf yaadate san isa irratti tolchi. Maarre akkanaa waan hantuu odduu teessanii balleessitan.

²⁰ Worri hafanelle waan kana dhage'anee hin sodaatan; itti deebi'anee waan hantuu akkasii odduu teessanitti hin godhanu.

²¹ Ati ila mararti'iitiin hin ilaalin. Lubbuun lubbu'uun, ilti ilaan, ilkaan ilkaaniin, harki harkaan, miilli miilaan haluun baafantuu ti.

20

Qajeelfama Duulaa

¹ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti ka biyya Gibxi'iitii ol si baase waan si waliin jiruuf, ati diina keeti loliisaaf yennaa baate, fardo'oo fi garreettaa fardo'oon harkifamu, loltoota loltoota teeti caaltu yennaa dhaggite, isaan hin sodaatin.

² Gara addee lolaattitti yennaa dhikaattane, hayyichi gara duraa dhufee loltootaan,

³ «Ee, kolbaa Israa'elii dhage'a'a! Adha isin diina keessan loliisaaf, bira geet-taneertan; hin corisina'a; hin sodaatina'a; hin sheephisina'a; hin bararaqi-naalle'e.

⁴ Akka isin injifattanu, diinota keessan isinii loliisaaf, ka isin waliin deemu Mootii Waan Maraa Waaqa keessan» jedhuu ti.

⁵ Achiin duuba gondaaltoti loltootaan, «Isin keessaa nami mana haareya ijaarratee, eebbisiifatee itti hin qubatin jiraa? Inni lola keessatti du'ee, nami dhibiin eebbisiifatee akka itti hin qubanne, gara mana ifii deebi'uu ti.

⁶ Nami muka woyni'ii dhaabbatee, midhaan isi'ii irraa hin nyaatin jiraa? Inni lola keessatti du'ee nami dhibiin midhaan isi'ii akka hin nyaanne, gara mana ifii deebi'uu ti.

⁷ Nami durra kadhatee adoo isii hin fuudhin jiru jiraa? Inni lola keessatti du'ee, nami dhibiin akka isii hin fuune, inni gara mana ifii deebi'uu ti» jedhanuu ti.

⁸ Qondaaltoti ammalle loltootaan, «Nami soda'aan guutamee coriseeru jiraa? Akkuma gadhaa ifii gadhaa worra dhibi'iille akka hin sheephisiinne, inni gara mana ifii deebi'uu ti» jedhane.

⁹ Qondaaltoti tana kolba'atti dubbataneen duuba, ajajjooti sooressitoota isaaniif filanuu ti.

¹⁰ Qachaa lolaartutti yennaa dhikaatte, nageyumaan akka harka kenatanu itti dhaami.

¹¹ Isaan deebii nageyaa sii deebisane karra ifii yoo si duraa banane, namooti qachaa san keessatti dhaggamanu hujii hunnaatiin si tajaajilanuu ti.

¹² Isaan si woliin nageya buusuu didanee, yoo si lolane ammoo, ati qachaa san marsi.

¹³ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti qachaa san harka keetitti dabarsee yennaa kenne, dhiira achi keessaa mara shallaaga'aan ijeesi.

¹⁴ Garuu dubartootaa fi ijoollee, hori'ii fi waan qachaa san keessaa maralle, waan qachaa san keessaa booji'amu maraayyuu ifiif fudhadhu. Waan diina keeti irraa booji'ame ka Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti sii kennelle nyaadhu.

¹⁵ Qachoota si irraa fago'oo, ka gosa biyya adda addaa ka gosa sitti dhikoo jiranu kanaa hin te'in maralle akkasuma godhi.

¹⁶ Te'uu malee, qachoota gosa biyya adda addaa tanaa ka lafa akka ati dhaaltuuf, Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti sii kennu keessatti, waan lubbuu qabu tokkolle lubbu'uun hin hamburin.

¹⁷ Worra Heetotaa, Amoorotaa, Kana'aanotaa, Pheriizotaa, Hiiwotaatii fi Yibusootaa akkuma Mootiin Waan Maraa si ajaje ijumaa balleessi.

¹⁸ Yoo akkas hin te'in, waan battii isaan hujanu waaqota ifii sagadiisaan godhanu akka isin hordottanu isin barsiisan; isinille Mootii Waan Maraa Waaqa keessan irratti cubbuu hujjan.

¹⁹ Qachaa tokko fudhatiisaaf, qachaa san lolaa marsitee yennaa hedduu yoo turte, muka qachaa sanii murtee hin balleessin. Midhaan isaanii nyaadhu malee, mukoota san murtee hin jissin; akka si'iin marfamanuuf, mukooti badda'aa namaa ree?

²⁰ Mukoota midhaan isaanii akka hin nyaatane ati beettu qofa murtee jissitee balleessitee, haga qachaan si woliin lolu sun jigutti, hujii isa marsiisaatiif ittiin ijaarata.

21

Gumaa Nama Nami Isa Ijjeese Hin beekkaminii

¹ Lafa Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti akka ati dhaaltuuf sii kennu keessatti, nami tokko diida keessatti ijeefamee nami isa ijjeese yoo hin beekkamin,

² jaarsoleen teessanii fi abbootiin mura'aa teessan bayanee, fageenna addee reeffaa irraa haga qachoota dhikoo sanii mikanuu* ti.

³ Achiin duuba jaarsoleen qachaa addee reeffi namichaa jirutti dhikaatu keessaa dhufane, goronsa hujii ittiin hin hujin, ka waanjoon irra hin keyamin filanee,

⁴ gara dhooqa bisaan yaa'u qaddu ta hin qotamin, ta midhaanille itti hin facaafaminitti gad geessanee, dhooqa san keessatti morma isaa cassanuu ti.

⁵ Akka isaaf tajaajilanu, maqaa isaatiin akka eebbisanu, haajaa moroma'aatii fi yakka'aa akka isaan murteessanu, Mootiin Waan Maraa Waaqi

* **21:2 Mikanuu:** Hagam akka dheeratu meeshaa miki'iititti fayyadamanee beekanuu.

keeti sanyii Lewwi'ii hayyoota waan filateef, isaan gara duraa dhikaatanuu ti.

⁶ Achiin duuba jaarsoleen qachaa addee reeffi namichaa jiru sanitti dhikaattuu marti, goronsa dhooqa keessatti morma caccassane san irratti harka dhiqatanee,

⁷ «Nuuti harka keennaan dhiiga kana hin dhangalaanne; nama dhiiga kana dhangalaaselle hin dhaggine.

⁸ Ee Mootii Waan Maraa, kolbaa teeti Israa'el ta biyya Gibxiitii wodattee baatteef araaram; dhiiga nama yakkaa hin qannee kana kolbaa teeti Israa'el irratti hin laakkowin» hin jedhan. Akka kanaan dhiiga dhangala'e kanaaf araarri hin te'a.

⁹ Ila Mootii Waan Maraa duratti waan sirrii te'e kana yoo gootane, dhiiga nama yakkaa hin qannee ka dhangala'e kanaaf itti hin gaafatantanu.

Dubartoota Booji'amane Fuudhuu

¹⁰ Diinota keeti loliisaaf baatee, Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti harka keetitti dabarsee isaan kennee ati yennaa isaan boojite,

¹¹ isaan keessaa dubartii miidhadduu takka dhaggitee isii fuudhiisaaf yoo feete,

¹² gara mana keetii fidi; isiin mataa haadattee, qeenca muratuu ti.

¹³ Isiin woyaa yennaa booji'ante uffatteertu san jijjiirattee, mana keeti teettee abbaa ifitii fi haadha ifitiif ji'a tokko guutuu gaddituu ti. Achiin duuba ati isii woliin rattee, dhirsa isi'ii hin teeta; isiille niitii teeti hin teeti.

¹⁴ Ati yoo isi'itti hin gammadin ammoo, akka isiin gara feete dhaxxu lakkisi. Ati waan isii salphitteef, isii hin gurgurattu yookiin garba hin godhattu.

Mirga Ilma Angafichaa

¹⁵ Nami tokko niitii lama qabaatee, takka jaalatee taan ka jibbu yoo te'e, isaan lamaanuu ilmaan yoo isaaf deyane, ilmi angafichi ka niitii inni jibbuu yoo te'e,

¹⁶ namichi sun gaafa ilmaan ifitiif karra ifii qoodu, qooda ilma angaticha ifitiif kenniisaaf male, mirga angafummaa'aa ka ilma niitii inni jibbu irraa dhalatee irraa fuudhee, ilma niitii inni jaalatu irraa dhalateef golii te'ee hin kennin.

¹⁷ Inni ilma niitii jibbuu saniif, karra ifii mara keessaa harka lama kenni isaan angafummaa isaa beessisuu ti. Ilmi sun jabeenna isaa ka qaraa waan te'eef, mirgi angafummaa'aa ka isaa ti.

Ilma Finqilaa

¹⁸ Nami tokko ilma mataa jabaatu finqilaa ka yoo isa adabannelle, haadhaa fi abbaa ifitiif hin ajajanne yoo qabaate,

¹⁹ haati isaatii fi abbaan isaa isa qabatanee, gara jaarsolee karra dalleya qachaa inni keessa le'utitti geessanuu ti.

²⁰ Isaan jaarsolee qachaa inni keessa le'u saniin, «Ilmi keenna kun ilma mataa jabaatu dida'a. Inni nu'uuf hin ajajamu. Inni gadhito'o; machowaalle'e» jedhanuu ti.

²¹ Achiin duuba dhiirti qachaa sanii marti dhaka'aan isa tumanee ijjeesanuu ti; maarre isin akka kanaan hantuu odduu teessanii hin balleessitan. Israa'elooti marti tana dhage'anee hin sodaatan.

Seera Adda Addaa

²² Nami tokko yakkaa du'a itti mursiittu hujee ijjeefamee, muka irratti yoo fannifame,

²³ nami muka irratti fannifame ka Waaqi abaareeru waan te'eef, lafa Mootiin Waan Maraa isiniif kennu akka hin batteessine, reeffi isaa gaafuma san awwaalamuutii malee, muka irra hin bulin.

22

¹ Loon yookiin hooleen obboleessa keetii baddee deentuun yoo dhaggite, isaaf deebis malee, cadhittee hin lakkisin.

² Addeen inni le'u fagoo yoo teete yookiin yoo isa hin beenne teete gara mana keetii geessiitii, haga abbichi barbaassa dhufutti si bira turtuu ti. Achiin duuba isaaf deebisi.

³ Harree, woyaa yookiin waan obboleessa keetii ta dhibiille ta isa duraa badde yoo dhaggite, akkasuma godhi.

⁴ Harreen yookiin loon Israa'elicha obboleessa keetii, karaa irratti jiga-neeranuun yoo dhaggite, isa qarqaarii kaasi malee cadhittee hin lakkisin.

⁵ Dubartiin woyaa dhiiraa hin uffatin; dhiirtille woyaa dubarti'ii hin uffatin. Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan worra akkas godhu hin jibba.

⁶ Adoo karaa deentuu muka irratti yookiin lafa irratti mana simbirre'ee ka cuucuun yookiin quuphaan keessa jiruun, haati itti kabbiteertu yoo dhaggite, haadha cuucuu isi'ii waliin hin fuudhin.

⁷ Wonni dansaan akka sii teetu, bara dheeraalle akka leetu, cuucuu fudhadhu; haadha ammoo akka deentu gad lakkisi.

⁸ Mana haareya tokko yennaa ijaartu, nami tokko heellichoo irraa bu'ee dhiiga isaatiif akka itti hin gaafatanne waan kiphu itti ijaari.

⁹ Oorruu muka woyni'ii keeti keessatti sanyii dhibii hin facaasin; yoo tana goote sanyii facaatte qofa adoo hin te'in, midhaan muka woyni'iille itti fayadamuu hin dandeettu.

¹⁰ Qotiyyo'oo fi harree wolitti hiitee ittiin hin gotin.

¹¹ Woyaa rifeensa hoole'eetii fi quncee talba'aatiin wolitti makantee dhowante hin uffatin.

¹² Woyaa teeti ta facaafattu roga arfanuu irratti handaara itti godhi.

Seera Marroo Fuudhaa Fi Heerumaa

¹³ Nami tokko niitii fuudhee, isii bira geyeen duuba, yoo isii jibbe,

¹⁴ dharaan maqaa isi'ii balleessee, «Ani intala tana fuudhe; yennaa isii bira geye bantii hin qaddu» jedhee yoo himate,

¹⁵ haatii fi abbaan intala sanii waan durrummaa isi'ii mirkaneessu, jaarsolee kora mura'aa ta karra qachaa sanii duraatitti geessanuu ti.

¹⁶ Abbaan intalaa jaarsolee saniin, «Ani intala tiyya nama kanaaf kenneer-aayyu; inni ammoo isii jibbe.

¹⁷ Kunoo maqaa isi'ii balleessee, «Intalti teeti bantii hin qaddu» jedhee himate. Beessisi durrummaa'aa ka intala tiyyaa kunoo ti!» jedhee hoccuu dhiiga banti'ii qaddu san jaarsolee qachaa sanii duratti diriirsuu ti.

¹⁸ Achiin duuba jaarsoleen qachaa sanii isa fuudhanee adabanuu ti.

¹⁹ Inni durra Israa'elii takka maqaa waan balleessee, meetii sheegeli dhibba tokko, abbaa intalattiif mura kennisiisanuu ti! Isiin niitii isaa teetuu ti. Inni bara jiruu ifii mara ijjumaa isii hin lakkisin.

²⁰ Te'uu malee himannaan isaa dhugaa teetee, beessisi durrummaa'aa ka isi'ii yoo dhabame,

²¹ isiin adoo mana abbaa ifii jirtuu, sagaagaltee hujii fokkisiittuu Israa'el keessatti waan hujjeef, gara balbala mana abbaa isi'ii geessanee, namooti qachaa isi'ii dhaka'aan isii tumanee ijjeesanuu ti. Akka kanaan waan hantuu odduu teetii balleessi.

²² Nami tokko niitii abbaa qaddu waliin rafee yoo dhaggame, lamaanuu ijjeefamanuu ti. Akka kanaan waan hantuu Israa'el oddu'uu balleessi.

²³ Nami tokko intala kadhatante takka qachaa tokko keessatti dhaggee, isii waliin yoo rafe,

²⁴ isiin akka irraa buusanuuf qachaa keessatti waan hin iyyiiniif, namichille niitii nama dhibi'ii waliin waan rafeef, isaan lamaanuu seen-suma karra qachaa saniititti gad baafamanee, dhaka'aan tumamanee ijjeefamanuu ti. Akka kanaan waan hantuu odduu teetii balleessi.

²⁵ Nami tokko qacha'aan alatti, intala kadhatante takka dhaggee, hunnaan yoo isii waliin rafe, inni callaan ijjeefamuu ti.

²⁶ Wonni akkasii akka nami tokko nama dhibii lolee ijjeesee waan fakkaatuuf, isiin cubbuu du'aan isii geessittu waan hin hujiniif, waan tokkolle isii hin godhina'a.

²⁷ Sababille namichi qacha'aan alatti intala kadhatanteertu san dhaggee, isiin iyyitulle nami irraa buusu tokkolle hin dhaganne.

²⁸ Nami tokko intala hin kadhatamin takka qabee isii waliin rafee yoo dhaggamane,

²⁹ namichi sun abbaa intalaatiif meetii sheeqelii shantama kaffaluu ti. Isiin namicha saniif niitii teetuu ti. Inni hunnaan isii waliin waan rafeef, bara jiruu ifii mara ijumaa isii lakkisuu hin dande'u.

³⁰ Nami tokko niitii abbaa ifii haadiqqoo ifii waliin rafee, abbaa ifii hin salphisin.

23

Worra Wolde'a Irraa Dhooggame

¹ Nami nafa hilaa tumame yookiin nami yakkatame wolde'a Mootii Waan Maraa hin seenin.

² Nami baanaa dhalate, sanyiin isaalle, haga dhaloota kudhaniituu wolde'a Mootii Waan Maraa hin seenin.

³ Amoonoti yookiin Mo'aaboti, sanyii isaanii keessalle'ee nami tokkolle haga dhaloota kudhaniituu wolde'a Mootii Waan Maraa hin seenin.

⁴ Sababille isaan yennaa isin biyya Gibxi'ii keessaa baatane, midhaanii fi bisaan karaa irratti isinii hin dhikeessine. Ilmi Be'orii Bala'aam akka isin abaaruuf qachaa Mesophotaamiya'aa Phetor keessaa isinitti bitame.

⁵ Te'uu malee, Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti waan si jaalateef, Bala'aamiif hin dhageenne; inni abaarsa isaa san gara eebbaa isinii jijjiire.

⁶ Bara jiruu teetii mara nageyaa fi qananummaa, isaaniiif hin halchin.

⁷ Worri Edoomii fira keeti waan te'aneef, isaan hin jibbin. Biyya Gibxi'ii keessatti alagaa teetee waan leeteef, worra Gibxi'ii hin jibbin.

⁸ Sanyiin isaanii dhalooti sadeesso'oo wolde'a Mootii Waan Maraatitti dabalantuu ti.

Qulqullummaa Quttuma Loltootaa Eeguu

⁹ Diina keeti loliisaaf addee quttumaa keessa yennaa jirtu, waan battii mara irraa ifi eegadhu.

¹⁰ Isin keessaa nama tokko halkan nafa hilaa isaa keessaa yoo woy dhangala'e, addee quttumaa san keessaa bayee achi turuu ti.

¹¹ Gara galgalaa nafa ifii dhiqatee, yennaa aduun seentu gara addee quttumaa deebi'uu ti.

¹² Addee faalowaa, addee quttumaatiin alatti qopheeffadhu.

¹³ Yennaa faalottu, boolla ittiin qottee faalowa keetitti biyyee akka ittiin deebittu, meya keeti waliin qottoo qabadhu.

¹⁴ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti, si eegiisaa fi diinota keeti harka keetitti dabarsee kenniisaaf, addee quttuma loltoota teetii keessa waan deddeebi'uuf, waan battii odduu teetitti dhaggee si irraa akka hin deebine, addee quttumaa teeti woyyoonsi.

Seera Adda Addaa

¹⁵ Garbichi tokko gootaa ifii duraa gara keeti yoo baqate, gootaa isaatitti deebittee isa hin kennin.

¹⁶ Inni qachoota keeti keessaa ka filate keessa si woliin le'uu ti malee, isa hin rakkisin.

¹⁷ Israa'eloota keessaa dubartiin yookiin dhiirti tokkolle worra galma waaqa dharaa keessatti sagaagalu hin te'in.

¹⁸ Mootiin Waan Maraa worra galma waaqa dharaa keessatti sagaagalu waan jibbuuf, beesee waan kana irraa dhaggante, kennansa waadaa galane tokkolle muummessiisaaf, gara Galma Mootii Waan Maraa Waaqa keetii hin fidin.

¹⁹ Obboleessa keeti Israa'elichaaf beesee yookiin sagalee yookiin waan dhibiille dhalaan hin liqeessin.

²⁰ Ormaaf dhalaan liqeessuu hin dandeetta. Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti lafa ati dhaaltu keessatti, waan ati hujju maraan akka si eebbisuuf, obboleessa keetiif dhalaan hin liqeessin.

²¹ Mootii Waan Maraa Waaqa keetiif waadaa yoo galte, inni dhugumaan si irraa waan barbaaduuf, cubbuu akka sitti hin teene, kenniisaaf hin turin.

²² Yoo waadaa galuu dhadde ammoo, cubbuu sitti hin teetu.

²³ Te'uu malee, Mootii Waan Maraa Waaqa keetiif fedha keetiin waadaa waan galteef, waan afaan keetiin dubbatte muummessiisaaf ifi eeggadhu.

²⁴ Oorruu woynii nama tokkoo keessa yennaa dabartu, haga feete nyaadhu malee, midhaan woyni'ii tokkolle subba keeti keessa hin keyatin.

²⁵ Fichaa nama tokkoo keessa yennaa dabartu, midhaan irraa saxii nyaadhu malee, haantu'uun hin haammatin.

24

¹ Nami tokko dubartii takka fuudheen duuba, waan isii irratti jibbu tokko yoo dhagge, woraqata lakkisiisaa barreessee itti kennee, mana ifitii baasee isii ari'uu ti.

² Isiin baatee nama dhibii yoo heerumte,

³ dhirsi lammeesso'oolle isii jibbee, woraqata lakkisiisaa barreessee, itti kennee mana ifitii baasee yoo isii ari'e yookiin yoo du'e,

⁴ muttaaraan eega isiin battoottee deebi'ee isii hin galfatin; wonni akkasii Mootii Waan Maraa duratti jibbisiisaa waan te'eef, lafa Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti sii kennu keessatti, cubbuu akkasii hin hujin.

⁵ Nami reefuu fuudhe tokko, gara duulaa hin dhaqin yookiin hujjin dhibiille itti hin bacatin. Inni haga woggaa tokkoo mana ifiititti bilisa te'ee, niitii fuudhe san woliin gammaduu ti.

⁶ Lubbuu namaa fudhatiisa waan te'eef, daakuu yookiin ilmaachuu qaddii hin fudhatin.

⁷ Nami Israa'elii tokko gosa ifii Israa'el keessaa nama tokko hatee garboonfatuun yookiin gurguratuun yoo dhaggame ijjeefamuu ti. Akka kanaan waan hantuu odduu teetii balleessi.

⁸ Marroo dhukkuba goga'aa farrisiisa'aa, waan Lewwooti hayyooti si ajaje mara akka dansaa ifi eeggadhu. Ati Waan ani isaan ajaje akka dansaa eegatuu qadda.

⁹ Isin biyya Gibxi'ii keessaa baatanee karaa irra jirtanuun, waan Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti Miiryaam irratti godhe qaabadhu.

¹⁰ Waan tokko namaaf yennaa liqeessitu, qaddii irraa fudhatiisaaf mana isaa hin seenin.

¹¹ Ati ala dhaabbattuun, nami ati liqeessiteef sun, qaddii san gad bayee sii fiduu ti.

¹² Namichi sun hiyyeessa yoo te'e, woyaa qaddii isa irraa fuute irraa hin bulchin.

¹³ Inni woyaa ifii uffatee bulee, akka si eebbisuuf adoo aduun hin seenin deebisiif. Mootii Waan Maraa Waaqa keeti duratti balchummaa sii teeti.

¹⁴ Ati obboleeyyan teeti nama Israa'elii keessaa yookiin alagaa lafa teeti keessa qachoota keeti keessa le'u keessaa, nama hiyyeessa rakkataa qaxaramee huju hin cunqursin.

¹⁵ Inni hiyyeessa waan te'eef, beesee san marroo eegatuuf, gatii inni ittiin qaxarame san adoo aduun hin seenin gaafasuma isaaf kaffali; yoo kaffaluu dhadde inni gara Mootii Waan Maraa iyyee, cubbuu sitti teeti.

¹⁶ Nami tokko tokkooyyuu yakkaa ifitiif ijjeefamuu ti malee, worri yakkaa ijoollee ifitiif hin ijjeefamin; ijoolleen yakkaa worra ifitiif hin ijjeefamin.

¹⁷ Haqa alaga'aa, haqa ijoollee haadhaa fi abbaan hin qanneelle hin dassin. Woyaa haadha hiyyeessaa qaddii hin fudhatin.

¹⁸ Atille biyya Gibxi'ii keessatti garba teeteertuun, Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti bilisa akka si baase qaabadhu. Tanaaf ani akka ati tana gootuuf si ajaje.

¹⁹ Midhaan keeti fichaa keeti keessaa haammatee yennaa galfattu, laddee fichaa keessatti deete fudhatiisaaf, duubatti hin deebi'in; Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti hujii harka keetii akka eebbisuuf, laddeen sun alaga'aaf, ijoollee haadhaa fi abbaa hin qannee fi haadhotii hiyyeessaatiif teetuu ti.

²⁰ Muka ejersaa keeti irraa midhaan yennaa harcaattu, ka damee irratti hafe qocatiisaaf hin deebi'in. Ka hafe sun alaga'aaf, ijoollee haadhaa fi abbaa hin qannee fi haadha hiyyeessaatiif te'uu ti.

²¹ Midhaan muka woyni'ii keeti yennaa guurattu, ka hafe qocatiisaaf hin deebi'in. Ka hafe sun alaga'aaf, ijoollee haadhaa fi abbaa hin qannee fi haadha hiyyeessaatiif te'uu ti.

²² Atille biyya Gibxi'ii keessatti garba akka teeteertu qaabadhu. Tanaaf ani akka ati tana gootu si ajaje.

25

¹ Namooti lama wol dhabanee gara kora mura'aa yoo dhufane, abbootiin mura'aa ka yakkaa hin qanne gad lakkisane, yakkaamessatti muranuu ti.

² Achiin duuba nami yakkaamessi sun ka dhaanamu'uu male yoo te'e, abbaan mura'aa lafatti isa irkisuu ti; laakkossi dhaanamiisa isaa akka yakkaa isaatitti addee abbaan mura'aa jirutti te'uu ti.

³ Te'uu malee, laakkossi dhaanamiisa isaa afurtama hin caalin. Afurtama caalaa yoo dhaaname, obboleessi keeti si duratti hin salphata.

⁴ Qotiyyoo midhaan dhowiisatti jirtu afaan hin hidhin.

Waan Obboleessi, Obboleessa Du'eef Godhu

⁵ Obboleeyyan woliin le'anuu keessaa tokkochi ilma adoo hin uumatin yoo du'e, niitiin nama du'ee sun maatii san keessaa baatee orma hin heerumin. Obboleessi dhirsa isi'ii, isii dhaalee woliin le'uu ti.

⁶ Maqaan obboleessa du'ee Israa'el keessaa akka hin banne, ilmi angafi isiin deettu maqaa obboleessa du'e saniitiin waamamuu ti.

⁷ Obboleessi nama du'e sanii yoo isii fuudhiisaaf fedha hin qabaatin, isiin jaarsolee qacha'aa dura dhaxxee, «Wosoon kiyya, maqaan obboleessa isaa Israa'el keessatti akka waamamu hin barbaanne. Inni na dhaaluu didate» jettuu ti.

⁸ Achiin duuba jaarsolee qachaa sanii isa waamanee, isa dubbisanuu ti. Inni, «Ani isii fuudhiisaaf hin fedhu» jedhee yoo dide,

⁹ isiin jaarsolee qacha'aa duratti gara isaa dhikaatee, miila isaa tokkocha irraa kophee mulqitee, fuula isaattitti tuttee, «Kun waan nama obboleessa ifitiif sanyii dabarsiisa didu irratti godhamu» jettuu ti.

¹⁰ Biyya Israa'elii keessatti maatiin isaa, «Maatii nama kopheen irraa mulqantee» jedhamanee hin beekkaman.

Seerota Dhibii

¹¹ Nami lama yennaa wol lole, niitiin namicha tokkochaa, dhirsaa ifitiif rogiisaaf, nama dhirsaa isi'ii dhaanu san nafa isaa ka hilaa yoo qadde,

¹² marartii malee harka isi'ii irraa kuti.

¹³ Subba keeti keessaa dhakaa madaalli'ii gosa lama diqqaa'aa fi guddaa hin qabaatin.

¹⁴ Mana keeti keessalle'ee meya ittiin safaranu gosa lama gudda'aa fi diqqaa hin qabaatin.

¹⁵ Lafa Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti sii kennu keessa bara dheeraa akka leetuuf, madaalli'ii fi meya ittiin safaranu ka sirrii te'ee fi addatamaa qabaadhu.

¹⁶ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti worra waan akkasii godhu mara ka addatamummaa malee waan akkasii hujjuma hin jibba.

¹⁷ Yennaa ati biyya Gibxi'iitii baate, waan worri Amaaleqii si godhe qaabadhu.

¹⁸ Yennaa ati karaa irratti dadhaddee gaggadde, worra dadhabee duubatti hafe mara ijjeesane. Isaan Waaqalle hin sodaanne.

¹⁹ Tanaaf Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti lafa sii kennu keessatti, diinota adaala keetii mara irraa yennaa si foorfachiisu, yaadannoo Amaaleqootaa ta isaan lafa irraa qabanu mara balleessi. Ijjumaa hin dedhin.

26

Kennansa Midhaan Mata'aatii Fi Kudhan Keessaa Tokkoo

¹ Ati lafa Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti akka ati dhaaltu sii kennutti galtee, qabattee isii keessa yennaa leetu,

² midhaan lafa Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti sii kennu irraa galfattu mara keessaa ka mata'aa fuudhiitii saaxaraa keessa keyiitii, gara addee Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti maqaan isaa akka itti waamamuuf filatuu dhaqi.

³ Hayyicha yennaa san hujii irra jiruun, «Lafa Mootiin Waan Maraa, nuu kenniisaaf abbootii teennaaf kakate sanitti akka galle, ani adha Mootii Waan Maraa Waaqa keeti duratti lallaba» jedhi.

⁴ Achiin duuba hayyichi saaxaraa san si irraa fuudhee, addee ciinca'aa ta Mootii Waan Maraa Waaqa keetii dura hin keya.

⁵ Atille Mootii Waan Maraa Waaqa keeti duratti, «Abbaan kiyya nama biyya Sooriya'aa ka addee takkattii hin leene; inni maatii diqqoo ifii waliin gara biyya Gibxi'ii gad bu'ee achi le'e; inni achitti kolbaa guddoo, hunnaametti'ii fi bindillaa te'e.

⁶ Worri Gibxi'ii ammoo nu miidhanee, nu farrisiisane, hujii hunnaa jajjadduu nu hujisiisane.

⁷ Achiin duuba nuuti gara Mootii Waan Maraa Waaqa abbootii teennaa iyyinee, Mootiin Waan Maraa iyya teenna dhage'ee, farra teenna, dad-habbi'ii fi cunqurfama keenna dhagge.

⁸ Maarre Mootiin Waan Maraa hunna ifii guddo'oo fi jabeenna ifitiin, hujii guddoo sodaachittu'uun, baasaa fi maade'een biyya Gibxi'ii keessaa nu baase.

⁹ Inni gara addee tanaa nu fidee, biyya aananii fi dammaa tana nuu kenne.

¹⁰ Kunoo, Mootii Waan Maraa midhaan mata'aa ka lafa ati naaf kennite irraa fideera» jedhi. Achiin duuba Saaxaraa san Mootii Waan Maraa Waaqa keeti dura keyiitii, fuula Mootii Waan Maraa duratti sagadi.

¹¹ Ati, Lewwootii fi alagaan si woliin le'u waan dansaa Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti si'ii fi maatii teetiif kenne maratti gammada'a.

¹² Ati woggaa sadeesso'oo, ta kudhan keessaa tokko kennanutti, midhaan galfatte keessaa kudhan keessaa tokko mara adda baatteen duuba, Lewwooti, alagaan, ijoolleen haadhaa fi abbaa hin qannee fi haadhotiin hiyyeessaa nyaatanee akka quufanu isaaniif kenni.

¹³ Achiin duuba Mootii Waan Maraa Waaqa keeti duratti, «Akkuma ajaja keetiititti, qooda waan woyyuu te'ee mara mana kiyyaa baasee, Lewwootaaf, alaga'aaf, ijoollee haadhaa fi abbaa hin qannee fi haadhotii hiyyeessaatiif kenneera. Ajaja keeti keessaa hin baane; tokkolle hin deene.

¹⁴ Ani gadda du'aa keessa qooda woyyichaa san irraa hin nyaanne yookiin akka aadaa dhugeeffanna'aatitti yennaa qulqulluu hin te'initti isa irraa hin fuune yookiin isa irraa worra du'eef hin kennine; ani Mootii Waan Maraa Waaqa kiyyaaf ajajameera. Waan inni na ajaje mara muummesseera.

¹⁵ Addee woyyittii teeti ta ol-gubba'aa irraa gad ilaaliitii, kolbaa teeti Israa'el, akkuma abbootii teennaaf kakatetti lafa aananii fi dammaa ta nuu kennitelle eebbisi» jedhi.

Ajaja Mootii Waan Maraa

¹⁶ Adha Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti seerataa fi seera isaa akka eegattu si ajaja; tanaaf gadhaa keeti tokkoochaa fi lubbuu teeti takkatti'in ajaja isaa mara akka dansaa eegadhu.

¹⁷ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti akka te'e, karaa isaa akka ideentu, seerata isaa, ajajjaa fi seera isaa eegatiisaaf, isaafille ajamiisaaf adha dubbatteera.

¹⁸ Mootiin Waan Maraa akkuma waadaa sii galetti, ati kolbaa isaa, qabeenna isaa ka addaa akka teete, ajaja isa maralle akka eegattu adha dubbateera.

¹⁹ Gosa biyya adda addaa ta dade mara keessaa leellisaan, maqa'aa fi ulfinnaan ol akka si aansu, akkuma waadaa galetti, Mootii Waan Maraa Waaqa keetiif, kolbaa woyyittii akka teetu dubbateera.

27

Addee Ciinca'aa Ta Gaara Ebaalii Irraa

¹ Muuse'ee fi jaarsoleen Israa'elii, kolbaa ajajanee, inni isaan, «Ajaja adha ani isin ajaju kana mara eegadha'a.

² Lafa Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan isinii kennutti galiisaaf, laga Yordaanosii gamatti yennaa buutane, dhakoota gugurdaa dhaaba'aatii nooraa itti diba'a.

³ Akkuma Mootiin Waan Maraa Waaqi abbootii teetii waadaa sii galetti, lafa aananii fi dammaa, ta Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti sii kennutti galiisaaf, laga Yordaanosii gamatti yennaa buute, jechoota seera kanaa mara dhakoota san irratti barreessi.

⁴ Laga Yordaanosii gamatti yennaa buute, akkuma ani adha si ajajetti dhakoota kana gaara Ebaalii irratti dhaabiitii nooraa itti dibi.

⁵ Achitti Mootii Waan Maraa Waaqa keetiif, sibiilaan adoo hin tuqin addee ciinca'aa dhaka'aan ijaari.

⁶ Mootii Waan Maraa Waaqa keetiif, dhakaa hin bocaminiin addee ciinca'aa ijaariitii isii irratti ciincaa dhikeessi.

⁷ Achitti ciincaa tokkumma'aa dhikeessiitii, Mootii Waan Maraa Waaqa keeti duratti nyaataa gammadi.

⁸ Dhakoota san irratti jechoota seera kanaa mara akka mudhatu godhiitii barreessi» jedhe.

⁹ Achiin duuba Muuse'een, Lewwoota hayyoota woliin, kolbaa Israa'elii maraan, «Ee Israa'el, cadhisii dhage'i; ati adha kolbaa Mootii Waan Maraa Waaqa keetii teeteerta.

¹⁰ Tanaaf, Mootii Waan Maraa Waaqa keetiif ajajamiisaan, ajajaa fi seerata ani adha si ajaju kana eegadhu» jedhe.

Abaarsa Ajajama Didiis Fiduu

¹¹ Guyyuma san Muuseen, kolbaa Israa'elii ajajee,

¹² «Laga Yordaanosii gamatti yennaa buutane, gosi Shimi'oonii, gosi Lewwi'ii, gosi Yihuda'aa, gosi Yisaakorii, gosi Yoseefiitii fi gosi Beniyaaminii kolbaa eebbisiisaaf, gaara Geriiziimii irra dhaabbatanuu ti.

¹³ Gosi Ruubenii, gosi Gaadii, gosi Asheerii, gosi Zebulonii, gosi Daaniitii fi gosi Niftaaleemii abaariisaaf gaara Ebaalii irra dhaabbatanuu ti» jedhe.

¹⁴ Worri Lewwootaalle qoonqoo ol qabatanee, kolbaa Israa'elii maratti lallabane:

¹⁵ «Nami fakkii nama hujii harkaa beekuun hujante, ta Mootii Waan Maraa duratti jibbisiisaa teete qiriixee yookiin sibiila baqisiisee waaqa dharaa hujee, dhossa'aan dhaabu, ka abaarama te'uu ti» jedhane.

Kolbaan marti, «Ameen» jettuu ti.

¹⁶ Nami haadha ifii yookiin abbaa ifii salphisu, ka abaarama te'uu ti.

Kolbaan marti, «Ameen» jettuu ti.

¹⁷ Nami dhakaa meessa'aa ka ollaa ifii adde'ee munyuussu marti, ka abaarama te'uu ti.

Kolbaan marti, «Ameen» jettuu ti.

¹⁸ Nami ballaa karaa dokonkoraatitti qajeelchu, ka abaarama te'uu ti.

Kolbaan marti, «Ameen» jettuu ti.

¹⁹ Nami alagaa, ijoollee haadhaa fi abbaa hin qannee fi haadhotii hiyyeessaa haqa dhooggu, ka abaarama te'uu ti.

Kolbaan marti, «Ameen» jettuu ti.

²⁰ Nami niitii abbaa ifii haadiqqoo ifii woliin rafu, rifanoo abbaa ifii waan salphisuuf, ka abaarama te'uu ti.

Kolbaan marti, «Ameen» jettuu ti.

²¹ Nami horii kamiyyuu woliin rafu ka abaarama te'uu ti.

Kolbaan marti, «Ameen» jettuu ti.

²² Nami intala abbaa ifii* yookiin intala haadha ifii† ta obboleettii isaa teetu woliin rafu ka abaarama te'uu ti.

Kolbaan marti, «Ameen» jettuu ti.

²³ Nami haadha sodda'aa ta ifii woliin rafu, ka abaarama te'uu ti.

Kolbaan marti, «Ameen» jettuu ti.

²⁴ Nami dhossa'aan nama ijjeesu marti, ka abaarama te'uu ti.

* **27:22** *Intala abbaa ifii:* Intala abbaan dubartii dhibii irraa uumate. † **27:22** *Intala haadha ifii:* Intala haati abbaa dhibii'if deette.

Kolbaan marti, «Ameen» jettuu ti.

²⁵ Nami nama yakkaa hin qanne ijjeesiisaaf, beesee fudhatu, ka abaarama te'uu ti.

Kolbaan marti, «Ameen» jettuu ti.

²⁶ Nami jechoota seera kanaa hin eeganne, ka abaarama te'uu ti.

Kolbaan marti, «Ameen» jettuu ti.

28

Eebba Ajajamiisaan Dhufu

¹ Ati Mootii Waan Maraa Waaqa keetiif yoo ajajante, ajajoota isaa ka ani adha si ajaju mara akka dansaa yoo eegatte, Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti gosa biyya adda addaa ta biyya lafaa irra jirtu mara caalaa ol isin hin qaba.

² Mootii Waan Maraa Waaqa keetiif yoo ajajante, eebbi kun martinuu dhufee si'iif hin te'a.

³ Qachaa keeti keessatti, fichaa keeti keessalle'etti hin eebbifanta.

⁴ Ijoolleen teeti, midhaan fichaa keetiitiif fi jabbileen loon keetii, ilmooleen hoole'ee fi re'ee teeti hin eebbifaman.

⁵ Saaxaraan keetii fi gabataan keeti hin eebbifaman.

⁶ Ati yennaa baatu, yennaa galtulle ka eebbifante hin teeta.

⁷ Mootiin Waan Maraa diinota si irratti ka'anuu fuula keeti duratti akka injifatamanu hin godha. Karaa tokkochaan si loliisaaf hin dhufan; karaa torbaan si duraa hin baqatan.

⁸ Mootiin Waan Maraa gootaraa keetii fi hujii harka keetii mara si'iif hin eebbisa. Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti lafa sii kennu keessatti si'ille hin eebbisa.

⁹ Ati ajaja Mootii Waan Maraa ka Waaqa keetii eegattee, karaa isaa yoo ideente, Mootiin Waan Maraa akkuma waadaa sii galetti kolbaa woyyittii ifii godhatee si hin dhaaba.

¹⁰ Achiin duuba kolbaan biyya lafaa duudiin, akka ati maqaa Mootii Waan Maraatiin waammante dhaggitee, si hin sodaatti.

¹¹ Mootiin Waan Maraa lafa sii kenniisaaf abbootii teetiif waadaa gale keessatti, ijoolle'en, hortee hori'itii fi midhaan lafa teetiitiin guddisee si qananoosa.

¹² Mootiin Waan Maraa lafa teetiif bokkeya yenna'an kenniisaan, hujii harka keetii eebbisiisaaf, galmee ifii dansaa, ol-gubbaa si'iif hin bana. Ati gosa biyya adda addaa heddu'uuf hin liqeessita malee, eennu irralle'ee hin liqeeffattu.

¹³ Mootiin Waan Maraa mataa si tolcha malee, eegee si hin tolchu; ajaja Mootii Waan Maraa ka Waaqa keetii ka ani adha si ajaju, akka dansaa yoo eegatte, ol guddatta malee, gad hin guddattu.

¹⁴ Waaqota dhibii hordofiisaa fi isaan tajaajiliisaaf, ajaja ani adha si ajaju kana irraa gara middaa yookiin gara bita'aa hin gorin.

Abaarsa Ajajamuu Dhabiisaan Dhufu

¹⁵ Mootii Waan Maraa Waaqa keetiif ajajamuu diddee, ajajaa fi seerata ani adha si ajaju kana yoo eegatiisa dhadde, abaarsi asii gadii kun marti sitti dhufee si hin dhaqqaba:

¹⁶ Ati qacha'aa fi fichaa keessatti hin abaaranta.

¹⁷ Saaxaraan keetii fi gabataan keeti ka abaaramane hin te'an.

¹⁸ Ijoolleen teeti, midhaan fichaa keetii, jabbiin loon keetiitiif fi ilmooleen hoole'ee fi re'ee teetii ka abaaramane hin te'an.

¹⁹ Ati yennaa baatu, yennaa galtulle ka abaarante hin teeta.

²⁰ Isa lakkittee, waan hujje maraaf, haga ati ijjumaa ariifattee baddutti, sababa hujii harka keetiitiif, Mootiin Waan Maraa abaarsa, raafamaa fi xixansa si irratti hin fida.

²¹ Mootiin Waan Maraa lafa ati itti galtu keessaa, haga ijjumaa si balleessutti dhukkuba hamaa sitti hin fida.

²² Mootiin Waan Maraa dhukkuba golgoleessuun, ka nafa o'isuun, iitaan, o'a woxaluun, oola'aan, gugguufa'aa fi shanto'oon haga ati baddutti si hin dhowa.

²³ Ol-gubbaan si'iin gubba'aa akka sageettu'uu, latti si'iin jalaa akka sibiilaa sitti hin teeti.

²⁴ Mootiin Waan Maraa haga ati baddutti bokkeya lafa teetii qabuxxe'ee fi bukuu hin godha.

²⁵ Mootiin Waan Maraa akka ati diina keeti duratti injifatantu hin godha. Karaa tokkoon isaan loliisaaf hin baata; karaa torbaan isaan duraa baqatta. Mootummoota biyya lafaa maratti waan hantuu nami dhaggee bararaqu hin teeta.

²⁶ Reefferi keeti allaatti'ii fi bineensaaf sagalee hin te'a; nami reeffa keeti irraa isaan ari'u tokkolle hin jiraatu.

²⁷ Mootiin Waan Maraa dhukkuba ati irraa fayyuu hin dandeenne iita dhootu ta worra Gibxi'iitiin, iita hin dhoone, qanxo'oo fi hooxxo'oolle'een si hin dhowa.

²⁸ Mootiin Waan Maraa maraattumma'aan, ballumma'aa fi raatu'uun si hin dhowa.

²⁹ Akkuma ballaan dukkana keessa titimisu, atille guyyaa saafowaan hin titimitta; karaan keeti si'iif hin qajeelu; wonni ati hujju marti si'iif hin milkoottu; ati yennaa mara cunqurfama'aa fi saamamaa hin teeta; nami si qarqaarulle hin jiraatu.

³⁰ Ati durra fuudhiisaaf hin kadhata; ammoo nami dhibiin hunnaan isii woliin rafa. Ati mana hin ijaarratta; ammoo keessa hin leetu. Muka woyni'ii hin dhaabbatta; ammoo midhaan isaa hin nyaattu.

³¹ Loon keeti iluma teeti duratti hin qalaman; ati ammoo foon san ijjumaa hin dhandhamattu. Harree teeti iluma teeti duratti butatanee fudhatan; ammoo si'iif hin deebitu. Hooleen teeti diinota keetiif kennanti; nami isaan hamburiisaaf si qarqaaru hin jiraatu.

³² Ijoolleen teeti ta dhiiraatii fi ta durraa adoo ati iluma teetiin ilaaltuu gosa biyya dhibi'iitiif hin kennaman. Guyyuma guyya'aan akka isaan deebi'anee dhufanu eegiisaan ilti teeti hin dadhaddi; garuu womaa godhiisa hin dandeettu.

³³ Gosi biyya ati hin beennee, midhaan lafa teetii ka ati itti elootte mara hin nyaatti; ati ammoo yennaa mara ka cunqurfantee bututtu qofa hin teeta.

³⁴ Wonni ati ila teetiin dhaggitu kun si maraachiti.

³⁵ Mootiin Waan Maraa iita fayyuu hin dandeenneen jilba keeti, miila keeti, barruu miila keetiitii jalqabee haga gubbaa mataa keetiititti madaa sitti buusa.

³⁶ Mootiin Waan Maraa si'ii fi mootii keeti ka ati ifi irratti mootonfatte, gosa biyya adda addaa ta atii fi abbootiin teetille hin beennetti dabarsee si hin kenna. Achitti ati waaqota mukaa fi dhakaa irraa hujamane tajaajila.

³⁷ Gosi biyya adda addaa ta Mootiin Waan Maraa itti si galchu mara keessatti, waan dhagganee bararaqanu, ta mammaaasaatii fi murgo'oo hin teeta.

³⁸ Ati sanyii midhaanii bacaa ficha'atti facaafatta, awwaannisi waan fixuuf, waan diqqoo qofa galfatta.

³⁹ Ati muka woyni'ii dhaabbattee hin kunuunfatta; corroxxi waan nyaatuuf ammoo, unkuruura isaa hin guurattu, daadhii woyni'ii ta isaalle hin untu.

⁴⁰ Lafa teeti keessa muka ejersaa addee maratti hin qabaatta; midhaan isaa waan irraa harca'uuf, zayitii ejersaa ta dibattu hin qabaattu.

⁴¹ Ati abbaa ilmaa fi intalaa ti; booji'amanee waan deemanuuf ammoo, isaan keetii moti.

⁴² Muka keetii fi midhaan keeti mara awwaannisi itti tima.

⁴³ Alagaan odduu teeti jiru si irratti oluma oluma jedha; ati ammoo gaduma gaduma jetta.

⁴⁴ Inni sii hin liqeessa; ati ammoo isaaf hin liqeessitu. Inni mataa hin te'a; ati eegee hin teeta.

⁴⁵ Ati jecha Mootii Waan Maraa ka Waaqa keetii dhage'uu waan diddeef, ajajaa fi seerata isaa ka inni si ajaju eegatiisa waan dhaddeef, abaarsi kun marti haga ati baddutti gara keeti dhufee, ari'ee si hin dhaqqaba.

⁴⁶ Abaarsi kun marti Mootiin Waan Maraa akka si'ii fi sanyii teeti adabe beessisaa fi maadee haga bara baraa mudhisu hin te'a.

⁴⁷ Yennaa qananummaa teetii Mootii Waan Maraa Waaqa keeti gammadaa firinxiixaa waan hin tajaajiliniif,

⁴⁸ yennaa beelaa fi dheebu'uu, yennaa daaraatii fi yennaa deegaa, diina keeti ka Mootiin Waan Maraa sitti kaasuu hin tajaajilta. Inni haga si balleessutti waanjoo sibiilaa morma keetitti hin keya.

⁴⁹ Mootiin Waan Maraa gosa akka risaa gubba'aa gad xinniquu, ta afaan isaanii ati hin beenne, lafa fagoo qaccee biyya lafaa irraa sitti hin fida.

⁵⁰ Isaan worra fuulli isaanii nama sodaachisu, ka nama gudda'aaf ulfinna hin kennine, ka ijoolle'eefille hin mararre.

⁵¹ Isaan haga si balleessanutti jabbilee loon keetiitii fi midhaan lafa teetii hin nyaatan; isaan midhaan, daadhii woyni'ii, zayitii ejersaa, hortee loonii yookiin hoole'ee fi re'ee teetii takkattiille si'iif hin hamburanu.

⁵² Dalleenni dhaka'aa dhedheeraan jabaan ati itti addattu haga jigutti, isaan qachoota lafa Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti sii kennu mara keessatti si hin marsan.

⁵³ Yennaa diinni keeti si marsee si farrisiisu san, dhala teeti, ta Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti sii kenne, foon ijoollee teeti ta dhiiraatii fi ta durraa hin nyaatta.

⁵⁴ Isin keessaa nami lafaan qeenxalloonuu obboleessa ifii, haadha manaa ta ifii ta jaalatuu fi ijoollee ifii worra hafane ila hantu'uun hin ilaala.

⁵⁵ Qachaan keeti marti waan marfameef, rakkinna diinni keeti si irratti fidu irraa ta kaate, akka inni nyaatuuf ka hafeeru kana malee waan hin jirreef, foon ijoollee ifii ka nyaatu san irraa diqquma isaalle, isaan keessaa tokkolle'eef hin kennu.

⁵⁶ Isin keessaa dubartiin laattuun qeenxalloon, ta miilli isi'iituu lafatti hin ijjanne, abbaa manaa ifitii fi ijoollee ifituu ila hantu'uun hin ilaalti.

⁵⁷ Isiin yennaa diinni keeti qachoota keeti marsee si farrisiisanu san, wonni nyaatanu waan hin jirreef, hobbaatii gadaamessa isi'ii keessaa baatuu fi ijoollee ifii deettu dhossa'aan hin nyaatti.

⁵⁸ Jecha seera kanaa ka kitaaba kana keessatti barreeffame mara akka dansaa yoo eegatuu dhaddane, maqaa Mootii Waan Maraa ka Waaqa keetii ka ulfinna qabu ka maade'ee kana yoo sodaatuu dhadde,

⁵⁹ Mootiin Waan Maraa balaa hamaa farrisiisaa yennaa hedduu si irra turu, dhukkuba hin fayyine si'ii fi sanyii teeti irratti hin fida.

⁶⁰ Inni dhukkuba biyya Gibxi'ii ka ati sodaatte san mara, ammalle si'itti hin fida; dhukkuba san irraa hin fayyitu.

⁶¹ Mootiin Waan Maraa dhukkubaa fi balaa kitaaba seeraa kana keessatti hin barreeffaminille mara sitti fidee si hin balleessa.

⁶² Laakkossi keessan akka urjii ol-gubba'aa te'ulle, jecha Mootii Waan Maraa Waaqa keessaniitiif waan hin ajajaminiif, isin keessaa nama diqqaa qofatti hafa.

⁶³ Mootiin Waan Maraa akkuma waan dansaa isinii godhiisaaf, isin baceessiisaafille gammade, akkasuma isin diigiisaa fi balleessiisaaf hin gammada. Isin lafa dhaaliisaaf itti galtanu keessaa hin buqqaatan.

⁶⁴ Mootiin Waan Maraa qaccee lafaatii haga qaccee lafaa taanitti, gosa biyya adda addaa odduu si hin bittinneessa; achitti waaqota mukaa fi dhakaa irraa hujamane, ka abbootiin teeti ta durii hin beenne hin tajaajilta.

⁶⁵ Gosa biyya adda addaa san oddu'utti foora hin qabaattu; addee miilli keeti itti ijjatulle hin qabaattu. Mootiin Waan Maraa achitti gadhaa sheep-hisu, ila caararroottu, gadhaa addii kutatulle sii hin kenna.

⁶⁶ Jiruu mamaa hin jiraatta; du'aa fi jiruu wodhakkaa waan jirtuuf, halka-nii fi guyyaa sodaataa leeta.

⁶⁷ Waan gadhaan keeti sodaatuu fi waan ilti teeti dhaggitu saniif jettee, ganama, «Adoo dhiitee!» galgala ammoo, «Adoo bariitee!» jetta.

⁶⁸ Karaa ani, «Lammeessoo deebitanee hin dhaggitanu» isiniin jedhe, Mootiin Waan Maraa hoboloo gudditti'in gara biyya Gibxi'ii si hin deebisa; achitti diinota keessaniif garbichaa fi garbittii akka isaanii teetanu gurguramiisaaf ifi kennitan; ammoo nami isin bitatu achi hin jiraatu.

29

Gondooroon Mo'aab Keessatti Haareffante

¹ Mootiin Waan Maraa Gondooroo ifi ta Horeebitti* Israa'eloota woliin godhate irratti dabalee, lafa Mo'aabii keessatti akka isaan woliin Gondooroo godhatuuf, ta inni Muusee ajaje ta asii gad jirtu:

² Muuseen kolbaa Israa'elii mara waamee, «Waan Mootiin Waan maraa biyya Gibxi'ii keessatti ila teessan duratti mooticha Fara'oonii fi qondaaltota isaa irratti, biyya isaa mara irralle'etti tolche dhaggitaneertan.

³ Balaa gugurdaa, bilbaasotaa fi waan maade'ee gugurdoo san iluma teessaniin dhaggitaneertan.

⁴ Garuu Mootiin Waan Maraa haga adhaa qalbii hubattu yookiin ila dhaggitu yookiin gurra dhage'u isiniif hin kennine.

⁵ Inni, «Ani woggoota afurtama goomolee keessa isin sooresse san woayaan teessan hin dulloonne; kopheen teessanille hin dhumanne.

⁶ Isin daabboo hin nyaanne; daadhii woyni'ii yookiin untoo nama macheessitu hin unne. Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan akka te'e akka beettanuuf tana godhe» jedhee isinitti himeera.

⁷ Yennaa isin addee tana dhuttane, mootiin Heshiboonii Sihoonii fi mootiin Baashaanii Oog nu loliisaaf dhufane; te'uu malee nuuti isaan injifanne;

⁸ lafa isaaniille fudhannee, gosa Ruubeniitiif, gosa Gaadiitii fi gamisa gosa Minaase'eetiif dhaala goonee kennine.

⁹ Tanaaf wonni isin gootanu marti akka isinii teetuuf, jechoota gondooroo tanaa eegadha'a.

* **29:1 Horeeb:** Gaara Siina'aa ti.

¹⁰ «Isin marti, sooressitooti gosa teessanii, jaarsoleen teessan, qondaal-toti teessanille, namooti Israa'elii marti adha Mootii Waan Maraa Waaqa keessan dura dhaabbataneeran;

¹¹ ijoolleen teessan, niitoti teessanii fi alagaan addee quttumaa teessan keessa jiranu, worra qoraan isinii cassuu jalqabee haga worra bisaan isiniif woraabuutitti isin woliin dhaabbataneeran.

¹² Gondooroo Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan isin woliin kakatiisaan Gondooru san, isa woliin godhatiisaaf, isin adha as dhaabbattaneertan.

¹³ Mootiin Waan Maraa akkuma isiniif waadaa gale, akkuma abbootii teessan Abrahaamiif, Yisihaqiif, Yaaqoobiifille kakate, inni Waaqa isinii te'iisaaf, kolbaa ifille isin godhatiisaaf adha tana godhe.

¹⁴ Mootiin Waan Maraa Gondooroo tana isin woliin qofa adoo hin te'in,

¹⁵ worra adha Mootii Waan Maraa Waaqa keenna dura as nu woliin dhaabbatuu fi worra adha as nu woliin hin jirre wolille'een godhe.

¹⁶ «Nuuti biyya Gibxi'ii keessa attam akka leenaa fi gosa biyya adda addaa keessa attam dabarree akka dhunne isinuu hin beettan.

¹⁷ Odduu isaaniititti waan jibbisiisaa, waaqota dharaa ka isaanii ka mukaatii fi dhaka'aa, ka meeti'iitii fi worqi'ii dhaggitaneertan.

¹⁸ Isin keessaa dhiirti yookiin dubartiin, maatiin yookiin gosi gadhaan isaanii Mootii Waan Maraa Waaqa keenna irraa deebi'e, dhaqanee waaqota gosa biyya adda addaa akka hin waaqonfanne ifi eegadha'a. Hiddi midhaan hadhowaa summii qabu buusu odduu teessan akka hin jiraanne ifi eegadha'a.

¹⁹ Nami akkasii jechoota abaarsaa kana dhage'ee, gadhaa ifi keessatti, ifi eebbifatee, «Ani mataa jabeennaan le'ulle, hantuun na hin dhaqqaddu» jedhee yoo herreege, worra dansa'aa fi worra hamaa irratti badii hin fida.

²⁰ Mootiin Waan Maraa nama akkasiitiif hin araaramu. Aari'ii fi hi-naaffaan Mootii Waan Maraa isa irratti hin bobbeetti; abaarsi kitaaba kana keessatti barreeffame marti isa irratti hin bu'a. Mootiin Waan Maraa maqaa isaa lafa irraa haxowee hin balleessa.

²¹ Mootiin Waan Maraa akkuma abaarsa gondooro'oo ka kitaaba seeraa kana keessatti barreeffameetitti, nama akkasii gosa Israa'elii mara keessaa baasee hin balleessa.

²² «Dhalooti isin duubaan dhufu, sanyiin teessanii fi ormi fago'oo dhufu bala'aa fi dhibee Mootiin Waan Maraa lafa teessan irratti fide dhagganee,

²³ «Latti sun guutumatti dhakaa bob'e'uu fi sooddaan hin gubatti; wonni tokkole irratti hin dhaabantu; wonni tokkole irratti hin lattu; isiin akka badii Sodoomii fi Gomora'aa, akka Aadima'aa fi Zebo'iimii ta Mootiin Waan Maraa aari'ii fi mufii ifii guddo'oon garagaggalchee hin teeti» hin jedhan.

²⁴ Achiin duuba gosi biyya adda addaa marti maadeffatee, «Mootiin Waan Maraa maaf lafa tana irratti waan akkasii godhe? Wonni inni aaree bob'e'eef maan?» hin jetti.

²⁵ Achiin duuba kolbaan deebittee, «Isaan Gondooroo Mootiin Waan Maraa Waaqi abbootii isaanii yennaa biyya Gibxi'ii keessaa isaan baase, isaan woliin gondoore san waan diiganeef.

²⁶ Isaan dhaqanee waaqota hin beenne, ka inni hin ajajin waaqota dhibii tajaajilane waaqonfatane.

²⁷ Tanaaf Mootiin Waan Maraa lafa tanatti aaree bob'e'ee, abaarsa kitaaba kana keessatti barreeffame mara lafa irratti fide.

²⁸ Mootiin Waan Maraa aaree bob'e'ee, mufii ifii guddo'oon lafa isaanii keessaa isaan buqqisee, akka adha jiranu kanatti biyya ormaa keessatti isaan gate» hin jetti.

29 «Wonni dhossa'aa ta Mootii Waan Maraa Waaqa keennaa ti; wonni mudhate ammoo, jecha seera kanaa mara akka hordonnuuf, teennaa fi ta ijoollee teennaa ti.

30

Eebba Gara Mootii Waan Maraa Deebi'iisaan Dhaggamu

¹ «Eebbaa fi abaarsi ani adha isin dura keye kun martinuu yennaa isin dhaqqabe, isin addee Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan gosa biyya adda addaa mara odduu isin bittinneessetti deebitanee yennaa waan kana qaa-battane,

² isinii fi sanyiin teessan gara Mootii Waan Maraa Waaqa keessanii deebi-tanee, akkuma ani adha isin ajajetti, gadhaa keessan tokkochaa fi lubbuu teessan takkatti'iin isaaf yoo ajajantane,

³ Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan boojuu teessan hin deebisa; isiniif hin marara; addee isin itti bittinneesse gosa biyya adda addaa keessaa, deebisee wolitti isin hin qaba.

⁴ Haga qaccee biyya lafaatitti bittinnoottanulle, Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan wolitti isin qabee deebisee isin hin fida.

⁵ Inni gara lafa abbootiin teessan qabatte san isin hin fida; isinille isii san hin qabattan. Inni abbootii teessan caalaa isin qananoonsee, laakkossa keessanille hin baceessa.

⁶ Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan akka isin gadhaa tokkochaa fi lubbuu takkatti'iin isa jaalatanee leetanu, qalbii teessanii fi qalbii ijoollee teessanii haqanqabaa hin qaba.

⁷ Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan abaarsa kana mara diinota keessan worra isin jibbuu fi worra isin miidhu irratti hin fida.

⁸ Isin deebitanee isaaf hin ajajantan; ajaja ani adha isin ajaju mara hin eegattan.

⁹ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan waan isin hujjanu maraan, ijoolle'een, hortee horii keessaniitii fi midhaan ficha'aatiin isin hin duroonsa. Inni abbootii teessan duroonsiisaan akkuma gammade, isinille duroonsiisaan hin gammada.

¹⁰ Tun yoo isin Mootii Waan Maraa Waaqa keessaniif ajajantane, ajajaa fi seerata kitaaba kana keessatti barreeffame mara eegatiisaan, gadhaa keessan tokkochaa fi lubbuu teessan takkatti'iin gara Mootii Waan Maraa Waaqa keessanii deebitane teeti.

Du'aa Fi Jiruu Keessaa Tokko Filatiisa

¹¹ «Ajaji ani adha isin ajaju kun guddoo ka isin rakkisuu moti yookiin ka isin irraa fagoo jiruu moti.

¹² Isin, «Akka nuuti dhageennee ajajannuuf, eentu ol-gubbaa bayee fidee nutti hima?» akka hin jenne ol-gubbaa hin jiru.

¹³ Isin, «Akka nuuti dhageennee ajajannuufille, eentu abbaayaa gamatti bu'ee fidee nutti hima?» akka hin jenne ajaji kun abbaaya'aan gama hin jiru.

¹⁴ Garuu jechi isinuma bira jira; akka isin ajajantanuufille afaanii fi gadhaa keessan keessa jira.

¹⁵ Kunoo, ani adha jiru'uu fi qananummaa, du'aa fi badii isin dura keyeera.

¹⁶ Akka isin Mootii Waan Maraa Waaqa keessan jaalatanu, karaa isaa irra akka ideentanu, ajaja isaa, seerata fi seera isaalle akka eegattanu, ani isin ajaja; achiin duuba jiru'uun hin leetan; hin hortan; Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan lafa isin itti galtanee qabattan keessatti isin hin eebbisa.

¹⁷ Gadhaan keessan isa irraa deebi'ee, isaaf ajajamiisa diddanee, waaqota dhibii sagadiisaaf sobantanee yoo isaan waaqonfatane ammoo,

¹⁸ dhuguma akka isin baddanu ani adha isinitti hima; laga Yordaanosii gamatti buutanee lafa qabattanu san keessa bara dheeraa hin leetanu.

¹⁹ Ani adha jiru'uu fi du'a, eebbaa fi abaarsa isin dura akka keye ol-gubba'aa fi lafa waamee isin irratti dhugaa akka bayanu hin godha. Tanaaf Isinii fi sanyiin teessan akka leetanu jiruu filadha'a.

²⁰ Mootii Waan Maraa Waaqa keessan jaaladha'a; isaaf ajajama'a; isatti maxxana'a; inni jiruu teessan waan te'eef, lafa abbootii teessan ta durii Abrahaam, Yisihaqii fi Yaaqoobiif kenniisaaf kakate san keessatti bara dheeraa isiniif hin kenna» jedhe.

31

Iyaasuun Addee Muuse'ee Bu'e

¹ Achiin duuba Muuseen gad bayee dubbii tana kolbaa Israa'elii maratti dubbatee,

² «Kunoo, ani amma nama woggaa dhibbaa fi diddamaa ti; hagaraa achi ani isin bulchiisa hin dande'u; Mootiin Waan maraa, «Ati laga Yordaanosii gamatti hin buutu» naan jedheera.

³ Mootiin Waan Maraa Waaqi keessanuu isiniin dura gamatti hin bu'a; gosa biyya adda addaa tana isin duraa hin balleessa; isinille lafa isaanii hin qabattan; akkuma Mootiin Waan Maraa dubbate, Iyaasuun isiniin dura gamatti hin bu'a.

⁴ Mootiin Waan Maraa mootota Amoorotaa Sihoonii fi Oog lafa isaanii woliin akkuma balleesse, isaanille hin balleessa.

⁵ Mootiin Waan Maraa gosa biyya adda addaa san dabarsee isinitti hin kenna; isinille akkuma ani isin ajaje isaan hin gootan.

⁶ Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan isin woliin waan jiruuf, jabaadha'a; jajjabaadha'a; isaan hin sodaatina'a yookiin hin bararaqina'a; inni isin hin lakkisu yookiin isin hin gatu» jedhe.

⁷ Achiin duuba Muuseen Iyaasuu waamee kolbaa Israa'elii mara duratti, «Ati kolbaa tana woliin gara lafa Mootiin Waan Maraa abbootii isaanii ta duriitiif kenniisaaf kakatetti waan galuuuf, lafa sanille dhaala isaanii gootee waan isaanii qoodduuf, jabaadhu, jajjabaadhu!

⁸ Mootiin Waan Maraa ififuu si'iin dura hin deema; si wolille'een hin jiraata; inni ijumaa si hin lakkisu yookiin si hin gatu; hin sodaatin; addii hin kutatin» jedhe.

Ajaja Seera Dubbisiisaaf Kenname

⁹ Muuseen seera kana barreessee, sanyii Lewwi'ii hayyoota saanduqa gon-dooroo Mootii Waan Maraa ba'atanuu fi jaarsolee Israa'elii maratti kenne.

¹⁰ Achiin duuba Muuseen isaan ajajee, «Dhuma woggaa torba torbaatitti, yennaa liqaan namaaf lakkifamuu fi yennaa jila gose'ee ta woggaa wogga'aan jilifantutti,

¹¹ kolbaan Israa'elii marti addee inni filatetti Mootii Waan Maraa Waaqa keessan duratti yennaa dhaggantanu, seera kana akka isaan dhage'anuuf isaan mara duratti dubbisa'a.

¹² Mootii Waan Maraa Waaqa keessan dhage'anee akka isa sodaatiisa baratanu, jecha seera kanaa mara akka dansaa akka eegatanu, kolbaa mara dhiira, dubartii, ijoolle'ee fi orma qachaa keessan keessa jiranu wolitti qaba'a.

¹³ Laga Yordaanosii gamatti buutaneef lafa qabattanuu keessatti bara leetanuu mara, ijoolleen isaanii ta seera kana hin beenne, seera kana dhage'aneef, Mootii Waan Mara Waaqa keessan sodaatiisa baratu qaban» jedhe.

Gorsa Mootiin Waan Mara Muuse'eefkenne

¹⁴ Mootiin Waan Mara Muuse'een, «Kunoo, guyyaan ati duutu dhikaa-teera; akka ani isa ajajuuf Iyaasuu waamiitii isa woliin gara Dunkaanii Woldeenna'aa dhikaadha'a» jedhe; maarre Muuse'ee fi Iyaasuun dhaqanee gara Dunkaanii Woldeenna'aa dhikaatane.

¹⁵ Achiin duuba Mootiin Waan Mara dunkaanii keessatti utubaa duumensaa keessaa mudhate; utubaan duumensaalle seensuma dunkaani'ii dhaabbate.

¹⁶ Mootiin Waan Mara Muuse'een, «Kunoo, ati duutee abbootii teeti ta durii bira dhaqaarta; kolbaan tun waaqota ormaa ka biyya itti galanuu hin waaqonfatan; isaan na lakkisaneef, gondoaroo ani isaan woliin godhe hin diigan.

¹⁷ Guyyaa san ani isaanitti aaree bobee'ee, isaan hin lakkisa; fuula kiyya isaan duraa hin dhoffadha'a; isaanille hin badan. Badiin guddo'oo fi rakkoon guddoon isaan hin dhaqqaddi. Guyyaa san isaan, «Badiin tun Waaqi keenaa waan nu woliin hin jirreef nu dhaqqaddee motii ree?» jedhanee hin gaafatan.

¹⁸ Isaan gara waaqota dhibi'ii deebi'isaan waan hantuu waan hujaneef, ani guyyaa san fuula kiyya ijjumaa isaan duraa hin dhoffadha.

¹⁹ «Amma faaruu tana barreeffadhuutii, kolbaa Israa'elii barsiisi; akka isaan irratti naaf dhugaa baatu, isaan akka faarsanu godhi.

²⁰ Ani gara lafa aananiitii fi dammaa ta abbootii isaaniitiif kenniisaaf kakadhe sanii yennaa isaan fide, isaan nyaatanee quufanee gabbataneen duuba, ana jibbanee, gondoaroo ani isaan woliin godhe diiganeef, gara waaqota dhibi'ii deebi'aneef isaan waaqonfatane.

²¹ Yennaa badiin guddo'oo fi rakkoon isaan dhaqqaddu, faaruun tun sanyii isaaniitiin waan hin raanfataminiif isaan irratti dhugaa hin baati. Ani gara lafa isaanii kenniisaaf kakadhee san adoo isaan hin fidiniin dura adhalle waan isaan godhiisaaf yaadiisatti jiranu hin beeka» jedhe.

²² Maarre Muuseen guyyuma san faaruu san barreessee Israa'eloota barsiise.

²³ Achiin duuba Mootiin Waan Mara, Iyaasuu ilma Nunii ajajee, «Ati Israa'eloota gara lafa ani isaanii kenniisaaf kakadhetti waan galchituuf, jabaadhu; jajjabaadhu; ani si woliin jira» jedhe.

²⁴ Muuseen jecha seeraa kana jalqabaa haga dhumaatitti kitaabatti barreessee fixeen duuba,

²⁵ Lewwoota saanduqa Gondoaroo Mootii Waan Mara ba'atanu ajajee,

²⁶ «Kitaaba seeraa kana fuudhiitii, achitti akka isin irratti dhugaa bawu, saanduqa Gondoaroo Mootii Waan Mara Waaqa keessanii bira keyi.

²⁷ Isin fiqiltootaa fi worra mataa jabaatu akka teetane ani hin beeka. Kunoo ani adha adoo jiru'uun isin woliin jiruu, eega Mootii Waan Mara fiqiltanee, du'a tiyyaan duuba fa'a irra caalaa attam attam fiqiltan ree!

²⁸ Ani jecha kana akka isaan dhage'anuuf akka isaanitti dubbadhu, olgubba'aa fi lafa isaan irratti dhugaa baatota godhee akka waamu, jaarsolee gosa teessaniitii fi qondaaltota teessan mara na duratti wolitti naa qaba'a.

²⁹ Ani du'een duuba akka isin ijjumaa battoottanee, karaa ani isin ajaje irraa gortanu ani hin beeka. Isin fuula Mootii Waan Mara duratti waan

hantuu waan hujjanuuf, hujii harka keessaniitille'een waan isa aarsitanuuf, baroota dhufanu keessatti badiin isinitti hin dhutti» jedhe.

Faaruu Muuse'ee

³⁰ Achiin duuba Muuseen jecha faaruu tanaa jalqabaa haga dhumaatitti, wolde'a kolbaa Israa'elii duudi'iif dubbisee,

32

- ¹ Ee ol-gubba'a ani hin dubbadha caqasa'a;
ee lafa atille jecha afaan kiyyaa dhage'i.
- ² Barsiisi kiyya akka bokkeyaa roobuu ti;
jechi kiyyalle akka fixeensa coccophuu ti.
Marra quunxu irratti akka tiifu'uu
lattuu irratti akka bokkeya jaba'aa roobuu ti.
- ³ Ani maqaa Mootii Waan Maraa hin lallaba;
isinille guddinna Waaqa keennaa leellisa'a!
- ⁴ Inni rassa'a,
hujiin isaa dhidhinna hin qaddu;
karaan isaa marti qajeela'a.
Inni Waaqa addatamaa hin dokonkorre;
Waaqa qajeela'a, balcha'alle'e.
- ⁵ Isaan isa irratti hantuu waan hujaneef,
haganaa achi ijoollee isaatii moti;
isaan dhaloota jallaameyyi'ii fi micciirama'a.
- ⁶ Ee isin kolbaa gowwoole'ee fi qarummaa hin qanne,
akki isin Mootii Waan Maraatiif deebittanu akkanaa?
Abbaan keessan ka isin dade,
ka isin hujee fi ka isin miidhasse isaa motii ree?
- ⁷ Guyyoota durii qaabadha'a;
woggoota dhaloota heddu'uu hubadha.
Abbootii teessan gaafadha'a;
isaanille isinitti hin himan.
Maanguddoo teessan gaafadha'a;
isaanille isiniif hin diidessan.
- ⁸ Waaqi Ol-Aanaan gosa biyya adda addaatiif,
dhaala isaanii yennaa kenne,
sanyii namaa mara yennaa addaan baase,
akka laakkossa kolbaa Israa'eliititti
meessaa gosa biyya adda addaatiif baase.
- ⁹ Sababille qoodi Mootii Waan Maraa kolbaa isaa ti;
Yaaqoob dhaala isaa ti.
- ¹⁰ Inni lafa goomolee keessa,
ona gammoojjii qiillee keessatti isa dhagge.
Inni wontee isaaf te'ee, isa kunuunsee,
akka gumaa ila ifii isa eege.
- ¹¹ Inni akka risaa mandhee ifii diigee,
ilmee ifii irratti gonboobee,
koola ifii isaan irratti badhisee,
isaan irratti kabbuutii fi
koola ifitiin isaan ba'atuu ti.
- ¹² Mootii Waan Maraa qofattuu isa sooresse;
waaqi ormaa isa woliin hin jiru.

13 Inni lafa koobotaa mara akka bulchu isa godhee,
midhaan ficha'aa isa nyaachise.

Rassaa keessaa damma isa nyaachisee,
dhakaa jabaa keessaa zayitii isaaf kenne.

14 Dhadhaa looniitii fi aanan hoole'eetii fi re'e'ee
cooma buruusoo hoole'ee,
ta korbeeyyii hoolee Baashaaniitii fi re'e'ee
xaltaa qamadii dansa'aa woliin kenneef;
inni daadhii woynii dansa'aalle une.

15 Yeshuuruun*
gabbatee finqile.

Quufee, furdatee, cululuqe;
inni Waaqa isa dade lakkisee,
rassaa fayyinna ifii tuffate.

16 Isaan waaqota ormaatiin
akka hinaafu isa godhanees,
battumma'aan isa aarsane.

17 Isaan durriisota Waaqa hin te'iniif,
waaqota hin beenneef,
waaqota haareya
ka abbootiin isaanii hin sodaatiniif
ciincaa dhikeessane.

18 Ati rassaa abbaa sii te'e lakkittee,
Waaqa jiruu sii kenne deete.

19 Ilmaan isaatii fi ijoolleen durraa ta isaa
waan isa aarsaneef,
Mootiin Waan Maraa
tana dhaggee isaan tuffate.

20 Inni, «Ani fuula kiyya
isaan hin dhoffadha;
muummeen isaanii
maan akka teetu hin ilaala;
isaan dhaloota micciiramaa,
ijoollee hin addatanne.

21 Isaan waan Waaqa hin te'iniin akka
ani hinaafu na godhanees,
waaqota dharaa ifitiin na aarsane.

Anille kolbaa tuffatanteen
akka isaan hinaafanu isaan hin godha;
kolbaa hubantii hin qannelle'een
isaan hin aarsa.

22 Mufii tiyyaan ibiddi waan bobee'eef,
haga addee worri du'e jiruutitti hin guba.
Lafaa fi waan isiin baattu hin fixa;
hundee gaarotaalle hin guba.

23 «Ani badii isaan irratti hin tuula;
daaya kiyya isaan irratti hin fixa.

24 Ani beela isaan balleessitu
dhukkuba hamaa isaan fixuu fi

* 32:15 Yeshuuruun: Afaan Ibrootaatiin qajeelaa jechu'u. Maqaa kolbaan Israa'elii ittiin waamantu.

- balaa isaanitti hin fida;
 kalaadaa bineensotaa
 hadhaa dhudhuufa'aa isaanitti hin erga.
- 25 Karaa irratti
 shallaagaan ijoollee isaanii hin fixa;
 mana isaanii keessa bararaqi hin guuta.
 Dargaggootii fi durri,
 annoole'ee fi jaarsoleen hin dhumatan.
- 26 Ani: Isaan bittinneessee,
 akka nami isaan hin qaabanne
 hin godha jedheeraayyu.
- 27 Garuu nyaaphoti isaanii,
 «Iree teennaan injifanne malee,
 tana mara Mootiin Waan Maraa hin goone» jedhane
 akka hin koorre diinota isaanii yaade.
- 28 «Isaan qarummaa hin qabanu;
 hubantiin isaan keessa hin jirtu.
- 29 Isaan adoo qaroolee te'anee jiraatane,
 tana hubatane, muummeen isaanii
 maan akka teetu hin beekaniyyu.
- 30 Rasaan isaanii yoo isaan gurgure malee,
 Mootiin Waan Maraa yoo isaan lakkise malee,
 attamiin nami tokko nama kuma ari'uu dande'a ree?
 Yookiin attamiin nami kum kudhan nama lama baqata?
- 31 Rasaan isaanii akka rassaa keenfaatii moti;
 diinoti keenfaatuu tana hin mormanu.
- 32 Muki woynii isaanii woynii Sodoomii irraa
 fichaa Gomora'aa keessaa waan dhufuuf,
 midhaan woynii isaanii hadhaa qaba;
 unkuruurri woynii isaanii hin hadhowa.
- 33 Daadhiin woynii isaanii
 akka hadhaa dhudhuufa'aatii fi
 akka hadhaa buutii hantu'uu ti.
- 34 Tun na biratti wolitti qabanteertii motii ree?
 Mana kuusa'aa kiyya itti cufee
 chaappaa itti dhoweeraa motii ree?
- 35 Haluun tiyya; ka haluu bayu ana;
 yennaa miilli isaanii mucucaatutti jira;
 Guyyaan badii isaanii waan dhikaateef,
 muraan ariifattee isaanitti hin dhutti» jedhe.
- 36 Garbooleen yookiin ka garboolee hin te'in
 nami tokkolle adoo hin hafin,
 hunni isaanii akka dhumatte yennaa dhagge,
 Mootiin Waan Maraa
 kolbaa ifitiif hin mura;
 tajaajiltoota ifitiifille hin marara.
- 37 Inni, «Waaqoti isaanii,
 rasaan isaan itti baqatanu,
 38 ka cooma ciincaa isaan dhikeessanu nyaatanu,
 ka kennansa daadhii woynii isaaniille unanu,
 ka'anee isaan qarqaaranuu ti me!
 Gollaa isaaniif te'anuu ti me!

- ³⁹ «Amma ilaala'a; Waaqi anuma;
ana malee Waaqi dhibiin hin jiru.
Ani hin ijjeesa; hin jiraachisalle'e;
ani hin madeessa; hin fayyisalle'e;
harka kiyya keessaa ka baasuu dande'u hin jiru.
- ⁴⁰ Ani harka kiyya gara ol-gubba'aa kaasee,
«Ani haga bara baraa jiraata'a» jedhee daadimadhe.
- ⁴¹ Shallaagaa kiyya balaqqisaa qaradhee,
harki kiyya mura'aaf yennaa isa qabatu,
ani diinota kiyya haluu hin baya;
worra na jibbuufille gatii hin kenna.
- ⁴² Daaya kiyya,
dhiiga mataa sooressitoota diinotaa worra qalameetii fi
worra booji'ameetiin hin macheessa;
shallaagaan kiyyalle
foon diinotaa hin nyaata» hin jedha.
- ⁴³ Inni dhiiga tajaajiltoota ifii baasee,
diinota ifille haluu bayee,
kolbaa ifitii fi lafa ifitiif
gumaa cubbu'uu waan godheef,
ee gosa biyya adda addaa
kolbaa isaa woliin gammada'a.
- ⁴⁴ Muuseen Iyaasuu ilma Nunii woliin dhufee, jecha faaruu tanaa mara
kolba'aaf dubbise.
- ⁴⁵ Muuseen jecha kana mara kolbaa Israa'elii maraaf dubbisee fixeen
duuba,
- ⁴⁶ isaaniin, «Jecha seera kanaa mara, ijoolleen teessan akka dansaa akka
eegattu, akka isaan ajajjanu jecha ani adha isinitti himu kana mara gadhaa
keessanitti qabadha'a;
- ⁴⁷ jechi kun ka jiruu isiniif kennu malee, ka bu'aa hin qannee moti;
jecha kanaan isin laga Yordaanosii gamatti buutanee lafa qabatu'uuf jirtanu
keessa bara dheeraa hin leetan» jedhe.
- Duuti Muuse'ee Durfamee Himame*
- ⁴⁸ Guyyuma san Mootiin Waan Maraa Muuse'een,
- ⁴⁹ «Gaarota Abaariimii keessaa, gara gaara Neboo, ka lafa Mo'aabii ta
fuullee Yeriko'oo jirtu keessa jirutti ol bayiitii, lafa Kana'aanii ta ani Is-
raa'elootaaf kennu san ilaali.
- ⁵⁰ Akkuma obboleessi keeti Aaron gaara Hoorii irratti du'ee, abbootii ifii ta
durii bira dhage, atille gaara itti ol baatu san irratti duutee, abbootii teeti ta
durii bira hin dhaxxa.
- ⁵¹ Tun isin lamaanuu Israa'eloota duratti bisaan Mariiba'aa ka qachaa
Qaadeshii biratti, goomolee Ziinii keessatti waan na yakkitanee fi Is-
raa'eloota oddu'utti woyyummaa tiyya waan hin ulfeessiniif tun teeti.
- ⁵² Tanaaf ati lafa san ifiin duratti hin dhaggita malee, lafa ani kolbaa
Israa'eliitiif kennu sanitti hin galu» jedhe.

33

Muuseen Gosoota Israa'elii Eebbise

- ¹ Nami Waaqaa Muuseen adoo hin du'iniin dura eebbi inni Israa'eloota
eebbise ta asii gad jiru.

- ² Mootiin Waan Maraa gaara Siina'aa irraa dhufee,
 akka aduu ganamaa Se'iir irraa isaaniif baye;
 gaara Phaaraanii irralle'ee isaaniif isse;
 inni ergantoota ifii kumaatama waliin dhufe;
 midda isaatitti ibiddi gabbatu jiraayyu.
- ³ Dhuguma inni kolbaa ifii hin jaalata;
 woyyooti marti harka isaa
 keessa jiran.
 Isaan martinuu miila isaa jalatti hin sagadan;
 isa irralle'ee gorsa hin fudhatan.
- ⁴ Seerri Muuseen kenne kun,
 qooda wolde'a Yaaqoobii ti.
- ⁵ Yennaa sooressitooti kolba'aa
 gosa Israa'elii mara waliin wolitti qabamanu,
 Mootiin Waan Maraa Yeshuuruun irratti mootii te'e.
- ⁶ Muuseen marroo gosa Ruubenii dubbatee,
 «Gosi Ruubenii le'uu ti malee, hin du'in.
 Laakkossi gosa isaa hin diqqaatin» jedhe.
- ⁷ Marroo Yihuda'aa,
 «Ee Mootii Waan Maraa,
 iyya gosa Yihuda'aa dhage'i.
 Gara kolbaa isaanii isaan fidi!
 Harkuma keetiin isaan irraa dhooggi;
 yennaa isaan diinota ifii waliin wol lolanu
 ati isaan qarqaar» jedhe.
- ⁸ Marroo gosa Lewwi'ii,
 «Uriimii fi Tumiim ta fedhii teeti ittiin beekanu,
 woyyoota teeti gosa Lewwi'itiif kenniteerta.
 Ati Maasa'atti haga isaan ilaaltee,
 bisaan Mariibaa biratti isaan waliin mormite.
- ⁹ Isaan si'iif jedhane
 haajaa abba'aa fi haadha ifii lakkisane,
 fira ifiitii fi ijoollee ifii dedhane.
 Isaan jecha keetiif ajajamane,
 gondoorroo teeti eegataneeran.
- ¹⁰ Isaan sirna keeti Yaaqoob
 seera keetille Israa'el hin barsiisan.
 Isaan hixaana si duratti
 kennansa gubamu duudiille
 addee ciinca'aa keeti irratti hin dhikeessan.
- ¹¹ Ee Mootii Waan Maraa, hunna isaanii eebbis;
 hujii harka isaaniititti gammad.
 Worra isaan irratti ka'u dhowi;
 diinoti isaanii deebi'ane akka hin kaane
 hidha isaanii kuti» jedhe.
- ¹² Marroo gosa Beniyaamii,
 «Ka Mootiin Waan Maraa jaalatu,
 sodaa malee jiraata.
 Inni guyyaa mara itti waan gombobuuf,
 bobaa isaa jala jiraata» jedhe.
- ¹³ Marroo gosa Yoseefii,
 «Mootiin Waan Maraa
 lafa isaanii fixeensa ol gubba'aatiin

- bisaan lafa gad fagoo keessa jirulle'een,
¹⁴ midhaan filatamaa adu'uun geyeen,
 ka dansaa yennaa yenna'aan galfatanuun,
¹⁵ waan hedduu dansaa
 gaara durii irraa dhaggamanuun,
 waan hedduu dansaa
 koobota bara baraa irraa dhaggamanulle'een,
¹⁶ waan guddoo dansaa latti baattuun,
 Mootii Waan Maraa
 ka haxanxarii bobeettu keessatti dubbateen
 eebbifantuu ti.
 Tun marti Yoseefii obboleeyyan ifii keessaa
 bulchaa te'eef teetuu ti.
¹⁷ Arnyi Yoseefii akka korma qara dhalatee ti;
 gaafoti isaa akka gaafota gafarsaa ti;
 gaafota ifii saniin gosa biyya adda addaa
 haga qaccee lafaatitti hin woraana.
 Efreem ka akkasii kuma kudhan qaba;
 Minaaseelle kuma hedduu qaba» jedhe.
¹⁸ Marroo gosa Zebuloonii,
 «Ee Zebuloon, ati bayiisa teetitti,
 ee Yisaakor, atille
 dunkaanii teeti keessatti gammadi.
¹⁹ Isaan gosa hedduu gara gaaraa hin waaman;
 achitti kennansa balchumma'aa hin dhikeessan.
 Qabeenna abbaaya'aa hin xuuxan;
 karra maansa keessatti dhokatelle hin baafatan» jedhe.
²⁰ Marroo gosa Gaadii,
 «Waaqi lafa Gaadii badhise ka eebbifame;
 Isaan akka neenqaa achi le'anee,
 harkaa fi mataa hin kukkutan.
²¹ Qoodi soorressumma'aa isaaniiif waan kennameef,
 lafa laayyoo hin filatan.
 Sooreyyiin kolba'aa yennaa wolitti qabamane,
 isaan fedha Mootii Waan Maraa qajeela'aa fi
 muraa isaa Israa'eliif muummessane» jedhe.
²² Marroo gosa Daanii,
 «Daan akka ilmoolee neenqaa,
 ta Baashaan keessaa utaaltuu ti» jedhe.
²³ Marroo gosa Niftaalemii,
 «Ee Niftaalem isin Mootii Waan Maraatiin
 fudhatama guddaa qaddan;
 eebba isaatile'een guutantaneertan;
 isin lafa haga kibba abbaayaa Galiila'aa
 hin qabatan» jedhe.
²⁴ Marroo gosa Asheerii,
 «Gosi Asheerii gosa dhibii caalaa ta eebbifante.
 Obboleeyyan isaanii isaan jaalatanuu ti;
 latti isaanii muka ejersaatiin ta tolte teetuu ti.
²⁵ Danqaraan karra isaanii
 sibiilaa fi sageettuu teetuu ti;
 nageenni isaanii bara isaanii woliin qixxawuu ti.

- 26 «Ee Yeshuuruun,
Waaqi akka Waaqa keessanii
ka isin qarqaariisaaf ol-gubbaa irra
duumensa irralle
arnya ifitiin deemu tokkolle hin jiru.
- 27 Waaqi bara baraa addee isin itti baqattanu;
irreen isaa ta bara baraalle isin utuddi.
Inni diinota keessan isin duraa ari'aa,
«Isaan balleessa'a» hin jedha.
- 28 Kolbaan Israa'elii qofii ifii
bidhaa malee jiraatti;
sanyiin Yaaqoobiille,
lafa midhaaniitii fi daadhii woyni'ii keessa,
addee ol-gubbaan fixeensa gad coccossitu keessa
nageyaan jiraatti.
- 29 Ee kolbaa Israa'elii, isin gammada'a!
Kolbaan akka keessanii
ta Mootiin Waan Maraa baase tam?
Wonte'ee fi qarqaarsi keessan,
shallaagaan keessan ka ulfinnaalle isa;
diinoti keeti si duratti hin hohollatan,
isin isaan irra hin sirbitan» jedhe.

34

Du'a Muuse'ee

- 1 Achiin duuba Muuseen dirree Mo'aabii ta gara gaara Neboo irraa gara qaccee Phiisga'aa irraa fuullee Yeriko'oo jirtuu ol baye. Achitti Mootiin Waan Maraa lafa mara, Giil'aadii haga Daanii,
- 2 lafa Niftaalemii mara, lafa Efreemiitii fi Minaase'ee, lafa Yihuda'aa mara haga abbaayaa gara aduun seentuu jirtu,
- 3 lafa kibba Yihuda'aa*, lafa dhooqa Yeriko'oo ta qachaa muka meexxi'ii irraa haga Zo'aarii jirtu mara itti mudhise.
- 4 Saniin duuba Mootiin Waan Maraa Muuse'een, «Latti tun ta ani Abrahaamiin, Yisihaiin, Yaaqoobille'een, «Ani sanyii teessaniif hin kenna» jedhee waadaa gale; ati ila teetiin dhaggiteerta; ammoo itti hin galtu» jedhe.
- 5 Achiin duuba Muuseen tajaajilaan Mootii Waan Maraa akkuma Mootiin Waan Maraa jedhe san lafa Mo'aabiititti du'e.
- 6 Mootiin Waan Maraa dhooqa lafa Mo'aabii fuullee Bet-Phe'orititti isa awwaale; te'uu malee haga adhaalle nami addee awwaala isaa beeku hin jiru.
- 7 Muuseen yennaa du'e nama woggaa dhibbaa fi diddamaa ti; ilti isaa hin garjine; hunni isaalle hin dadhanne.
- 8 Israa'elooti dirree Mo'aabiititti haga guyyaa soddomaa Muuse'eef bowaa gaddane; achiin duuba nageeffatane.
- 9 Muuseen harka ifii Iyaasuu ilma Nunii irra waan keyeef, ayyaanni qaroomaa isa keessa guuteeyyu. Maarre Israa'elooti isa dhage'anee, waan Mootiin Waan Maraa karaa Muuse'eetiin ajaje godhane.
- 10 Eega san Israa'el keessaa raagaan akka Muuse'ee ka Mootiin Waan Maraa fuula ifii duratti dubbise,

* 34:3 Lafa kibba Yihuda'aa: Afaan Ibrootaatiin Negeb jedha

¹¹ka beessisaa fi maadee mara biyya Gibxi'iititti, Fara'oon irratti, qondaal-tota isaa maraa fi lafa isaa mara irratti akka hujuuf Mootiin Waan Maraa erge,

¹²hunna guddoo Muuseen kolbaa Israa'elii mara duratti mudhise yookiin waan sodaachittuu inni huje, ka muummesse tokkolle hin jiru.

Kitaaba Iyaasu'uu Seensa

Kitaab Iyaasu'uu, kolbaan Israa'elii Iyaasuu addee Muuse'eetitti filameen sooreffamaa woraanaan injifattee, lafa Kana'aanii attam akka qabatte dabarsii hintu. Dabarsii kitaaba kana keessatti barreeffante keessaa gugurdoon marroo laga Yordaanosii bu'iisaa, marroo jinnana Yeriko'oo, marroo woraana qachaa Aayii jedhamutti godhameetii fi marroo haaressiisa gondooroo kolbaan Waaqa woliin goote ta hintu. Kitaaba kana keessatti kutaa guddoo beekkamaa te'e keessaa tokko, «Ka waaqonfattanu adhuma filadha'a; anii fi maatiin tiyya ammoo Waaqa hin waaqonfanna» (24:15) ka jedhu.

Haadhoo Dubbi'ii

Injifatamiisa Kana'aanii1:1–12:24

Hirama lafa13:1–21:45

Lafa laga Yordaanosii irraa gara aduun baatuu13:1-33

Lafa laga Yordaanosii irraa gara aduun seentuu14:1–19:51

Qachoota baqattootaa20:1-9

Qachoota Lewwootaa21:1-45

Gosi karaa aduun baatuu dhutte gara lafa ifii deebite22:1-34

Nageya dhaamiisa Iyaasu'uu23:1-16

Sekemitti gondooroon haareffante24:1-33

Waaqi Iyaasuu Ajaje

¹ Muuseen tajaajilaan Mootii Waan Maraa du'een duuba, Mootiin Waan Maraa qarqaarticha Muuse'ee Iyaasuu ilma Nuniitiin,

² «Muuseen tajaajilaan kiyya du'eera. Amma atii fi kolbaan Israa'elii tun duudiin ka'a'aatii laga Yordaanosii bu'a'aatii, gara lafa ani kolbaa Israa'eliitiif kennu sanii dhaqa'a.

³ Ani akkuma Muuse'eef waadaa gale, addee faanti miila keessanii irra ijattu duudii isiniif hin kenna.

⁴ Meessaan keessan lafa goomolee kibbaatii ka'ee haga gaara Libaanonii ka kaabaa, laga guddaa Efraaxiisiitii ka'ee, lafa Heetotaa duudii qabatee haga Abbaayaa Mediteraaniya'aa gara aduun seentuu hin te'a.

⁵ Iyaasu'u, bara jiruu teetii duudii nami ifi irraa si qabatuu dande'u hin jiru. Akkuma Muusee woliin jiraadhe si wolille'een jiraadha. Ani yennaa maraa si woliin jiraadha; ijjumaa si hin lakkisu.

⁶ Lafa ani isaaniif kenniisaaf abbootii isaaniitiif waadaa gale, akka dhaalanuuf, soressa kolbaa tanaa waan teetuuf, jabaadhuu, jajjabaadhu.

⁷ Atummaan jabaadhuu, jajjabaadhu! Seera Muuseen tajaajilaan kiyya si ajaje duudi'iif ajajamuu keeti mirkaneeffadhu. Addee dhaxxu maratti wonni marti qajeelaan akka sii teetu Seera kana irraa gara middaatitti yookiin gara bita'aatitti hin gorin.

⁸ Kitaab Seeraa kun afaan keeti keessaa hin dhabamin. Waan isa keessatti barreeffame duudii akka muummessitu, halkanii fi guyyaa isa yaadadhu; yoo tana goote, wonni marti qajeelaan sii teeti.

⁹ Ani Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti, «Addee ati dhaxxu maratti si woliin waan jiruuf jabaadhuu, jajjabaadhu, hin sodaatin, hin nayinille'e!» jedhee si ajajee hin jiruu?» jedhe.

Iyaasuun Kolbaa Ajaje

¹⁰ Achiin duuba Iyaasuun sooreyyii kolba'aatiin,

¹¹ «Addee quttumaa dhaqa'aatii kolba'aan, «Guyyaa sad keessatti laga Yordaanosii buutane, lafa Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan isiniif kennu dhaxxanee akka dhaaltanu, galaa keessan qopheeffadha'a!» jedha'aan» jedhee isaan ajaje.

¹² Iyaasuun, gosa Ruubeniitiin, gosa Gaadiitii fi gosa Minaase'ee gamisaan,

¹³ «Dubbii Muuseen tajaajilaan Mootii Waan Maraa, «Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan, lafa tana isiniif kennee isin foorfachiisa» jedhee isin ajaje qaabadha'a.

¹⁴ Dubartooti teessan, ijoolleen teessanii fi horiin keessan lafa Muuseen laga Yordaanosiitiin gara aduun baatutti isiniif kenne keessa turanuu ti; namooti keessan ka meya lolaa hidhatane duudiin ammoo, obboleeyyan ifii Israa'eloota qarqaariisaaf isaaniin dura bu'anuu ti;

¹⁵ Mootiin Waan Maraa akkuma isin foorfachiise obboleeyyan teessanille haga foorfachiisu, lafa Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan isaaniif kennulle haga fudhatanutti isaan qarqaara'a. Achiin duuba lafa teessan ta Muuseen tajaajilaan Mootii Waan Maraa laga Yordaanosiitiin gara aduun baatutti isiniif kennetti deebitanee hin qabattan» jedhe.

¹⁶ Isaanille Iyaasu'uun, «Waan ati nu ajajje mara hin goona; gara nu ergitu maralle hin dhandha.

¹⁷ Akkuma yennaa mara Muuse'eef ajajanne, si'iifille hin ajajanna; Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti callaan akkuma Muusee woliin jiraate, si wolille'een jiraatuu ti.

¹⁸ Nami ajaja keeti diduu fi dubbii teetiif hin ajajanne duudiin ijjeefamuu ti; atummaan jabaadhu, jajjabaadhu» jedhaneen.

2

Iyaasuun Worra Dooyu Yeriko'otti Erge

¹ Eega san Iyaasuun ilmi Nunii quttuma lafa Shiixiim jedhantuu keessaa worra dooyu lamaan dhossa'aan ergee, «Dhaqa'aatii lafa san, keessattuu qachaa Yeriko'oo dooya'a» jedhe. Isaan yennaa achi geyane mana dubartii sagaagaltittii, «Rahaab» jedhantu takkaa seenanee, achi bulane.

² Mooticha qachaa Yeriko'ootitti, «Kunoo, kolbaan Israa'elii gariin lafa dooyiisaaf halkaniin asi dhufaneeran» jedhane himane.

³ Maarre inni Rahaabitti ergee, «Namooti mana keeti keessa jiranu biyya duudii dooyiisaaf waan dhufaneef, gad baasi!» jedhe.

⁴ Dubartittiin sun ammoo namoota lamaan san dhossitee, «Dhuguma, jarri takka gara kiyya dhutteertiyyu; eessaa akka dhutte ammoo ani hin beeku.

⁵ Isaan aduun seentee balbalti karra qacha'aa yennaa cufantu bayannee deemane. Karaa isaan itti gorane ani hin beeku; yoo ariifattanee hordottane hin dhaqqaddan» jette.

⁶ Isiin ammoo jara heellichoo manaa gubba'atti ol baattee muka talba'aa ka achitti afameeru jalatti isaan dhossiteertiyyu.

⁷ Namooti mootichi erge sun haga karaa malkaa laga Yordaanosii hordofisaaf bayaneen duuba karri qacha'aa cufante.

⁸ Worri dooyu sun adoo hin rafin, Rahaab heellichoo manaa gubba'atti isaan bira dhaxxee,

⁹ «Waaqi lafa tana akka isiniif kenne ani hin beeka. Worri biyya tanaa duudiin isin sodaatanee akka gaga'aa baqane.

¹⁰ Yennaa isin biyya Gibxi'ii keessaa baatane, Waaqi attam akka abbaayaa diintuu isin duraa gosse, mootota Amoorotaa lamaan Sihoonii fi Oog

worra laga Yordaanosii irraa gara aduun baatu jiru attam akka ijeettanelle dhageenneerra.

¹¹ Nuuti yennaa waan kana dhageenne, sodaannee akka gaga'aa bandhe; nuuti marti addii kutanne; sababille Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan dhugumaan Waaqa ol-gubba'aatii fi lafaa ti.

¹²⁻¹³ Amma akkuma ani waan dansaa isiniif godhe, isinille mana abbaa kiyyaa badii irraa hamburiisaan waan dansaa akka gootanu maqaa Mootii Waan Maraatiin kakadha'a; abbaa kiyya, haadha tiyya, obboleeyyan tiyya, obboleeyyan tiyya ta durraatii fi waan isaanii mara du'a irraa akka hambur-tanu, beessisa addachiisu naaf kenna'a» jette.

¹⁴ Jarri isi'iin, «Waan amma nuuti hujiisatti jirru kana yoo nama tokkolle'etti himuu dhaddee jiru'uun jiraanne, yennaa Mootiin Waan Maraa lafa tana nu'uuf kennu, isinille akka jiru'uun jiraattan hin goona» jedhane.

¹⁵ Manni Rahaab keessa leetu gara tokkoon dalleya qacha'aa ka dhaka'aatiin wolitti waan ijaarameruuf, qowa dalleya dhaka'aatiin wodaroon isaan gad buuttee,

¹⁶ «Worri isin hordofu akka isin hin dhaggine, gara lafa koobitti'ii dhaqa'aatii haga isaan deebi'anutti guyyaa sadii achitti dhokadha'a. Achiin duuba gara deemiisatti jirtanu deemuu dandeettan» jetteen.

¹⁷⁻¹⁸ Jarrille isi'iin, «Nuuti lafa qabatiisaaf yennaa dhunnu, wodaroo diintuu tana, karaa qowa gad nu buutte kanaan yoo hin hidhin, abbaa keetii fi haadha teeti, obboleeyyanii fi nama mana abbaa keetii mara mana keeti keessatti yoo wolitti hin qabin, kakuu ati nu galchite tanaaf hin komatannu.

¹⁹ Eennuulle mana keeti keessaa yoo gad baye, dokonkoruma ifitiin du'e; nuuti itti hin gaafatannu; nama si woliin mana keessa jiru tokkocha irralle'etti miidhaan yoo dhaqqadde ammoo, nuuti itti hin gaafatanna.

²⁰ Teetuu malee waan nuuti hujiisatti jirru kana yoo hinte, kakuu ati nu kakachiitte si'iif hin guunnu» jedhaneen.

²¹ Isiin, «Akkuma isin jettane teetuu ti» jettee, isaan lakkitte. Yennaa isaan deemane, wodaroo diintuu qowa san irratti hiite.

²² Worri isaan hordofu karaa mara irra barbaadee isaan dhabee haga deebi'utti, worri dooyu gara lafa koobitti'ii dhaqanee guyyaa sad achitti dhokatane.

²³ Achiin duuba namooti dooyanu lamaan sun lafa koobittii irraa gadi bu'anee, laga Yordaanosii bu'anee gara Iyaasuu ilma Nunii dhufanee, waan isaan irra geye duudii itti himane.

²⁴ Isaan, «Waaqi dhugumaan lafa duudii harka keennatti dabarsee nuuf kenneera. Kolbaan achi jirtu duudiille sodaattee akka gaga'aa baxxeerti» jedhane Iyaasu'utti himane.

3

Kolbaan Israa'elii Laga Yordaanosii Gamatti Buute

¹ Iyaasu'uu fi kolbaan Israa'elii duudiin barii halkaniin ka'anee, lafa Shiixiimii lakkisane gara laga Yordaanosii dhufanee, adoo gamatti hin bu'in achitti qubatane.

² Guyyaa sadiin duuba sooressitooti addee quttumaa san keessa deddeente,

³ kolba'aan, «Saanduqa Gondooro Mootii Waan Maraa Ka Waaqa keessanii Lewwooti hayyooti ba'ataneeranuun yennaa dhaggitane, addee quttuma keessaniitii ka'a'aatii isaan faana deema'a.

⁴ Isin tanaan qara addee tana waan hin beenneef, karaa deentanu isaan isinitti hin mudhisan. Teetuu malee Saanduqa Gondooro'ootitti hin

dhikaatina'a; isinii fi Saanduqa Gondooro'oo wodhakka'atti fageenni gara kiiloo meetira tokkoo jiraatuu ti» jettee ajajje.

⁵ Iyaasuun kolba'aan, «Mootiin Waan Maraa boru bilbaasota odduu teessanitti waan godhuuf, ifi qulleessa'a» jedheen.

⁶ Achiin duuba Iyaasuun hayyootaan, «Saanduqa Gondooro'oo fuudha'aatii kolba'aan dura deema'a» jedheen. Isaanille Saanduqa Gondooro'oo fuudhaanee kolba'aan dura deemane.

⁷ Mootiin Waan Maraa Iyaasu'uun, «Muusee woliin akkuma jiraadhe si wolille'een jiraatuu kiyya Israa'elooti marti akka beettu, ani adha isaan duratti si guddisiisuu jalqaba.

⁸ Hayyoota Saanduqa Gondooro'oo ba'atanuun, «Yennaa qarqara laga Yordaanosii geettane, bisaan keessa seena'aatii dhaabbadha'a» jedhiin» jedhe.

⁹ Achiin duuba Iyaasuun kolbaa Israa'eliitiin, «Asi dhikaadha'aatii jecha Mootii Waan Maraa Ka Waaqa keessanii caqasa'a.

¹⁰ Akkuma isin gara duraa hiixxanuun, Waaqi jiraataan dhugumaan Kana'aanota, Heetota, Hiiwota, Pheriizota, Girgaashota, Amoorotaa fi Yibusoota isin duraa oofee baasiisaan, odduu teessan jiraatuu isaa beettan.

¹¹ Saanduqi Gondooroo Gootaa lafa duudi'ii isiniin dura laga Yordaanosii gamatti hin bu'a.

¹² Maarre amma gosoota Israa'elii tokko tokkooyyuu keessaa nama tokko tokko fila'aatii, nama kudhanii lama dhikeessa'a.

¹³ Hayyooti saanduqa Gondooroo Mootii Waan Maraa gootaa lafa duudi'ii ba'atane, akkuma isaan faana miila ifii bisaan keessa keyaneen, lagi Yordaanosii yaa'iisa hin lakkisa; bisaan gaara irraa gad yaa'iisatti jirulle gargar citee, eelee tuulama» jedhe.

¹⁴ Yennaa kolbaan Israa'elii laga Yordaanosii bu'iisaaf addee qubatanee ka'ane, hayyooti Saanduqa Gondooro'oo ba'atane isaaniin dura deemane.

¹⁵ Lagi Yordaanosii yennaa midhaan galchanu guutee danbala'a; hayyooti Saanduqa Gondooro'oo ba'ataneeranu laga Yordaanos geyanee akkuma faanti miila isaanii bisaan tuxxeen,

¹⁶ bisaan gaara irraa gad yaa'u dhaabbatee, fagaatee haga qachaa Adaamii ka qachaa Zaaretaanii biraatitti eelee tuulame. Bisaan gara Abbaayaa Arabaayii dabaree gara «Abbaayaa Sooddaa» jedhantuutitti yaa'u ijumaa cite. Tanaaf kolbaan gara Yeriko'oo gamatti buute.

¹⁷ Israa'el duudiin lafa godduu irra deemaa yennaa bu'anu, hayyooti Saanduqa Gondooroo Mootii Waan Maraa ba'atteertu, haga kolbaan marti laga Yordaanosii buututti, laga Yordaanosii wodhakkaa lafa godduu irra dhaabbatteertiyyu.

4

Soodduu Dhaabane

¹ Kolbaan Israa'elii marti laga Yordaanosii buuteen duuba Mootiin Waan Maraa Iyaasu'uun,

² «Gosa tokko tokkooyyuu keessaa, nama kudhanii lama filiitii,

³ laga Yordaanosii wodhakkaa addee miilli hayyootaa dhaabbateeruun dhakoota kudhanii lama fuudhanee, addee edana bultanutti akka dhaabanu ajaji» jedhe.

⁴ Achiin duuba Iyaasuun namoota kudhanii lama ka file san waamee,

⁵ isaaniin, «Saanduqa Gondooroo Mootii Waan Maraa Ka Waaqa keessaniitiin dura tara'aatii, haga laga Yordaanosii wodhakkaa'aa deema'a. Akka laakkossa gosoota Israa'eliititti tokko tokkoon keessan dhakaa tokko tokko fuudha'aatii, gurmoo teessan irratti kaafadha'a.

⁶ Dhakooti kun odduu teessanitti beessisa te'a. Hegeri ijoolleen teessan, «Dhakooti kun maan godha?» jettee yennaa isin gaafattu,

⁷ isin, «Saanduqi Gondooroo Mootii Waan Maraa laga Yordaanosii yennaa bu'e, bisaan Yordaanosii gargar cite; tanaaf dhakooti kun kolbaa Israa'eliitiif haga bara baraa yaadannoo hin te'a» jettanee itti hintan» jedhe.

⁸ Maarre Israa'elooti akkuma Iyaasuun isaan ajaje godhane. Akkuma Mootiin Waan Maraa Iyaasuu ajajetti isaan akka laakkossa gosa Israa'eliititti dhakaa kudhanii lama odduu laga Yordaanosiitii fuudhane, gara quttuma ifii geessanee achitti dhaabane.

⁹ Iyaasuulle dhakoota kudhanii lama laga Yordaanosii wodhakka'atti addee miilli hayyoota Saanduqa Gondooroo'oo ba'atane dhaabbatetti dhaabe. Dhakooti sun haga adhalle achuma jiran.

¹⁰ Akka kolba'aaf himu Mootiin Waan Maraa akkuma Iyaasuu ajajetti, wonni marti haga muummottutti hayyooti laga Yordaanosii wodhakkaa dhaabbattee turte. Wonni Muuseen Iyaasuu ajajelle tanuma.

Kolbaalle ariiti'in lagaan gamatti buute.

¹¹ Isaan martinuu gamatti bu'anee cullaneen duuba, hayyooti Saanduqa Gondooroo Mootii Waan Maraa ba'atteertu gamatti buutee kolba'aan duratti tarte.

¹² Worri adhi'iif qophowe ilmaan Ruubenii, ilmaan Gaadiitii fi gamisi gosa ilmaan Minaase'ee, akkuma Muuseen isaan ajajetti meya woraanaa hidhatanee kolbaa Israa'eliitiin dura bu'ane.

¹³ Namooti gara kuma afurtamaa meya lolaa hidhatanee qajeelcha Mootii Waan Maraatiin lolaaf gara Diida Yeriko'oo gamatti bu'ane.

¹⁴ Gaafa san Mootiin Waan Maraa kolbaa Israa'elii duudii duratti Iyaasuu guddise. Isaanille akkuma Muusee ulfeessane, bara jiruu isaa mara isa ulfeessane.

¹⁵ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Iyaasu'uun,

¹⁶ «Hayyooti Saanduqa Gondooroo'oo ba'atteertu laga Yordaanosii keessaa akka bayanu ajaji» jedhe.

¹⁷ Tanaaf Iyaasuun hayyootaan, «Laga Yordaanosii keessaa baya'a» jedhee ajaje.

¹⁸ Hayyooti Saanduqa Gondooroo Mootii Waan Maraa ba'atteertu laga Yordaanosii keessaa baatee, miilli isaanii lafa godduu irra yennaa ijate, lagi Yordaanosii addee ifititti deebi'ee, akkuma durii guutee danbala'e.

¹⁹ Kolbaan Israa'elii ji'a matoomaa guyyaa kudhaneesso'ootitti laga Yordaanosiitii ol bayanee, meessaa Yeriko'oo gara aduun baatuun Giilgalitti qubatane.

²⁰ Iyaasuun dhakaa kudhanii lama ka laga Yordaanosii keessaa fuudhame Giilgalitti dhaabee,

²¹ kolbaa Israa'eliitiin, «Hegeri yennaa ijoolleen teessan, «Dhakaan kun maan?» jettee abbootii ifii gaafattu,

²² isin, «Kolbaan Israa'elii laga Yordaanosii kana keessa lafa godduu irra buute.

²³ Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan haga nuuti buunutti Abbaayaa Diintuu nuuf gosse; isinille'eef haga isin buutanutti Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan bisaan Yordaanosii gosse.

²⁴ Waan kanaaf kolbaan lafa irra jirtu duudiin hunni Mootii Waan Maraa attam guddoo akka teetee hin beetti; isinille Mootii Waan Maraa Waaqa keessan haga bara baraa hin ulfeessitan» jedha'aan» jedhe.

5

¹ Moototi Amoorotaa worri laga Yordaanosiitiin gama gara aduun seentuu jiru duudi'ii fi moototi Kana'aanotaa worri irga abbaayaa Mediteraaniya'aa jiranu duudiin, haga kolbaan Israa'elii laga Yordaanosii buutu akka Mootiin Waan Maraa laga gosse yennaa dhage'ane, sodaatanee akka gaga'aa baqane; isaan sababa Israa'elootaatiif jajjabeenna dhabane.

Israa'elooti Giilgalitti Haqanqabaa Qabatane

² Yennaa san Mootiin Waan Maraa Iyaasu'uun, «Dhaka qara qabu qophe-effadhuutii ammalle ilmaan Israa'elootaa haqanqabaa qabi» jedhe.

³ Maarre Iyaasuun dhakaa qara qabu qopheeffatee, Gibi'aat-Haaraalotitti ilmaan Israa'elootaa haqanqabaa qabe.

⁴ Wonni Iyaasuun isaan haqanqabaa qabeef kana: namooti biyya Gibxi'iitii bayane marti, dhiirti worri woggaan isaanii duulaaf geye duudiin, biyya Gibxi'iitii bayanee adoo goomolee keessa deemanuu du'ane.

⁵ Namooti biyya Gibxi'ii keessaa bayane duudiin haqanqabaa qabataneeraniyyu; biyya Gibxi'iitii bayaneen duuba worri goomolee keessatti dhalate duudiin ammoo, haqanqabaa hin qabanne.

⁶ Israa'elooti Gibxi'ii yennaa bayane worri woggaan isaanii duulaaf geette duudiin jecha Mootii Waan Maraatiif waan ajajamuu dhabaneef, haga isaan dhumatanutti kolbaan Israa'elii woggaa afurtama goomolee keessa deema turte. Mootiin Waan Maraa lafa aananii fi dammaa ta sanyii isaaniitiif kenniisaaf abbootii isaaniitiif waadaa gale san, akka isaan hin dhaggine kakate.

⁷ Iyaasuun ijoollee Mootiin Waan Maraa addee abbootii isaaniititti kaase haqanqabaa qabe; isaan karaa irratti haqanqabaa waan hin qabatiniif, haqanqabaa qabatane hin jiranu.

⁸ Kolbaan duudiin haqanqabaa qabatteen duuba, haga madaan isaanii fayyitu addee quttumaatitti turane.

⁹ Mootiin Waan Maraa Iyaasu'uun, «Ani adha salphinna keessan ka biyya Gibxi'ii keessaa isin irraa konkolaachise» jedhe. Tanaaf maqaan addee sanii haga adhaa, «Giilgal*» jedhame.

¹⁰ Israa'elooti Giilgalitti qubatanee adoo jiranuu, ji'a keessaa guyyaa kudhanii arfeesso'ootitti galgala diida Yeriko'ootitti Jila Irra Dabaramaa jilifatan.

¹¹ Guyyaa Jila Irra Dabaramaatiin duuba midhaan lafa sanii, daabboo uukoo hin qannee fi akumm'ee nyaatane.

¹² Guyyaa isaan midhaan lafa sanii nyaataneen jalqabee, mannaan bu'iisa lakkise; Israa'elooti woggaa san keessa midhaan latti Kana'aanii baattu nyaatane malee, eega san deebi'ane manna hin dhagganee.

Mudhii Iyaasu'uu

¹³ Iyaasuun qachaa Yeriko'ootitti yennaa dhikaate, nama shallaagaa buqqifatee dhaabbateeru tokko ifiin duratti dhaggee, gara isaa dhaqee, «Ati gara keenna moo gara diina keennaa ti?» jedhee gaafate.

¹⁴ Namichille deebisee, «Ani gara keessan yookiin gara diinaatille'e moti; ammoo ajajaa loltoota Mootii Waan Maraa te'ee dhufeera» jedhe.

Iyaasuulle lafatti jigee sagadeefii, «Gootaa kiyya, maan akka ani godhu barbaadda?» jedhee deebise.

¹⁵ Ajajaan loltoota Mootii Waan Maraa deebisee Iyaasu'uun, «Addeen ati dhaabbatteertu tun woyyittii waan teeteef, kophee teeti baafadhu» jedhe. Iyaasuulle akkasuma godhe.

* 5:9 Giilgal: Afaan Ibrootaatiin konkolaachisuu jechu'u.

6

Jinnana Qachaa Yeriko'oo

¹ Sodaa Israa'elootaatiif, balbalti seensuma karra qachaa Yeriko'oo cufantee eegamaa turte. Nami tokkolle seenuu yookiin bayuu hin dandeenne.

² Mootiin Waan Maraa Iyaasu'uun, «Ilaa, ani qachaa Yeriko'oo, mootii isaatii fi loltoota isaa waliin harka keetitti dabarsee kenneera.

³ Atii fi loltooti teeti haga guyyaa jaa, guyyaa keessatti yennaa tokko qachaa Yeriko'oo gogeessaan mara'a.

⁴ Hayyooti torba tultullaa gaafa korbeeyyii hoole'ee torba qabattee, Saanduqa Gondooroo Mootii Waan Maraatiin dura deentuu ti. Guyyaa torbeesso'ootitti hayyooti tultullaa afuuttuun, atii fi loltooti teeti qachaa san yennaa torba cinaa mara'a.

⁵ Isaan qoonqoo tultulla'aa adoo wol irraa hin kutin, tultullaa yennaa afuufanuun dhageettane, kolbaan marti qoonqoo ol qabattee iyyituu ti. Achiin duuba dalleenni dhaka'aa ka qacha'aa hin jiga; kolbaan sun nami tokkoon tokkonuu fuula ifii duraan gara qacha'aa seenuu ti» jedhe.

⁶ Iyaasuun ilmi Nunii hayyoota waamee, «Saanduqa Gondooroo'oo fuudha'aatii, isin hayyooti torba tultullaa gaafa korbeeyyii hoole'ee torba qabadha'aatii Saanduqa Gondooroo Mootii Waan Maraatiin dura deema'a» jedhe.

⁷ Inni kolba'aan, «Deema'aatii, qachaa gogeessaan marsa'a; worri meya lolaa hidhate Saanduqa Gondooroo Mootii Waan Maraatiin dura deemuu ti» jedhe.

⁸ Iyaasuun kolba'atti dubbateen duuba, hayyooti torba worri Mootii Waan Maraatiin dura tultullaa gaafa korbeeyyii hoole'ee torba qabatee deemu, tultullaa san afuufaa dura deemane; Saanduqi Gondooroo Mootii Waan Maraalle isaan gula deeme.

⁹ Worri meya woraanaa hidhateerulle, hayyoota tultullaa afuufanuun dura deeme; worri kuun ammoo, hayyooti adoo wol irraa hin kutin tultullaa afuuttuun, Saanduqa Gondooroo'ootiin duuba deeme.

¹⁰ Iyaasuun ammoo, «Haga ani, «Iyya'a» jedhee isinitti himutti hin iyyina'a; qoonqoon teessan hin dhage'amin, dubbiin takkaalle afaan keessan keessaa hin bayin» jedhee jara ajaje.

¹¹ Maarre Iyaasuun Saanduqi Gondooroo Mootii Waan Maraa yennaa tokko qachaa akka maru godhe. Achiin duuba isaan addee quttumaatitti deebi'anee achi bulane.

¹² Iyaasuun barii halkan ka'e; hayyootille Saanduqa Gondooroo Mootii Waan Maraa ba'atte.

¹³ Hayyooti torba worri tultullaa gaafa korbeeyyii hoole'ee torba qabateeru, adoo woli irraa hin kutin tultullaa afuufaa Saanduqa Gondooroo Mootii Waan Maraa dura deemane. Worri meya woraanaa hidhateeru isaaniin dura deeme; worri kuun ammoo Saanduqa Gondooroo Mootii Waan Maraatiin duuba deemane.

¹⁴ Guyyaa lammeesso'oo yennaa tokko gogeessaan qachaa maranee, addee quttumaatitti deebi'ane; haga guyyaa jaa akkasuma godhane.

¹⁵ Guyyaa torbeesso'ootitti barii yennaa boruun dayya'u ka'anee, akkuma qaraa yennaa torba qachaa marane; guyyaan isaan yennaa torba gogeessaan qachaa cinaa marane gaafa kana qofa.

¹⁶ Martoo torbeesso'ootitti yennaa hayyooti tultullaa afuuttu, Iyaasuun kolba'aan, «Mootiin Waan Maraa qachaa kana waan isiniif kenneef iyya'a!

¹⁷ Qacha'aa fi wonni qachaa keessa jiru marti akka woreegamanuuf, Mootii Waan Maraatiif murteeffamaneeran; Rahaabiin sagaagaltittiin

dootuu nuuti erganne waan dhossiteef, isi'ii fi worri isii woliin mana isi'ii keessa jiru callaan hafanuu ti.

¹⁸ Isin ammoo quttuma Israa'elootaatitti rakko'oo fi badii akka hin finne waan ijumaa balleeffamuu qabu fudhatiisa irraa ifi eeggadha'a.

¹⁹ Meeti'ii fi worqiin, mey sageettu'uu fi sibiila irraa hujame marti Mootii Waan Maraatiif ka woyyoomane waan te'aneef addee karra Mootii Waan Maraatiif maffamuu qaban» jedhe.

²⁰ Maarre hayyooti tultullaa afuutte. Kolbaan akkuma tultullaa dhageet-teen, goongoo guddoon iyyite; dalleenni qacha'aalle jige. Achiin duuba kolbaan sun nami tokko tokkonuu fuula ifii duraan gara qacha'aa seenee qabate.

²¹ Isaan waan qachaa san keessa jiru duudii dhiiraa fi dubartii, dargagootaa fi jaarsolee, loon, hoole'ee fi harree shallaaga'an ijjeesiisaan Mootii Waan Maraatiif murteessane.

²² Iyaasuun achiin duuba dootuu lamaaniin, «Gara mana namittii sagaa-galtuu sanii dhaqa'aatii, akkuma isi'iif kakattanetti isi'ii fi worra isii woliin mana isi'ii keessa jiru baasa'a» jedhe.

²³ Maarre isaan deemanee abbaa isi'ii, haadha isi'ii, obboleeyyan isi'iitii fi worra isii woliin jiru mara baasane; maatii isi'iille mara fidanee quttuma Israa'elootaatiin ala qubachiisane.

²⁴ Achiin duuba isaan meetii, worqii, meya sageettu'uu fi sibiila irraa hujame addee karra Mootii Waan Maraa keyanee, qacha'aa fi waan isa keessa jiru mara ammoo ibiddaan gubane.

²⁵ Iyaasuun ammoo Rahaabiin sagaagaltittiin ergantoota qachaa Yeriko'oo dooyiisaaf ergamane san dhossitee waan baatteef, isii, maatii isi'iitii fi worra isii woliin jiru mara du'a irraa hambure. Sanyiin isi'ii haga adhaa biyya Israa'elii keessa jirti.

²⁶ Yennaa san Iyaasuun,

«Nami qachaa Yeriko'oo deebisee ijaariisaaf ka'u
Mootii Waan Maraa duratti
ka abaarame hin te'a.

Nami hundee isaa buusu

ilma angaficha ifii hin dhaba;
nami karra dalleyaa dhaabu
ilma maandhicha ifii hin dhaba»
jedhee jabeessee isaan kakachiise.

²⁷ Maarre Mootiin Waan Maraa Iyaasuu woliin jiraayyu; gurri isaalle lafa san duudii keessatti dhage'ame.

7

Cubbuu Akaaniitii fi Adabamiisa Isaa

¹ Kolbaan Israa'elii waan Mootii Waan Maraatiif murteeffame fudhatiisaan addatamummaa dhadde; gosa Yihuda'aa keessaa Akaaniin ilmi Karmii, akaakoon Zabdi, abuuboon Zaara'aa waan Mootii Waan Maraatiif murteeffame irraa waan fudhateef, Mootiin Waan Maraa kolbaa Israa'eliititti guddoo aare.

² Iyaasuun qachaa Yeriko'ootii gara qachaa Aayii ka Bet'el irraa gara aduun baatu, qachaa Bet-Aweenii bira jirutti namoota ergee, «Ol baya'aatii lafa dooya'a» jedhe; namootille ol bayanee qachaa Aayii dooyane.

³ Isaan gara Iyaasu'uu deebi'anee, «Worri Aayii diqqaa waan te'eef, isaan injifatiisaaf nama mara itti duulchisuu hin barbaachisu; akka adhanuuf

namoota kuma lama yookiin kuma sad qofa itti ergi; kolbaan Aayii diqqoo waan teeteef loltoota mara hin dadhassiisin» jedhaneen.

⁴ Maarre Israa'elooti gara kuma sadii gara qachaa Aayii ol bayane; ammoo namoota Aayii duraa baqatane.

⁵ Namooti qachaa Aayii karra qacha'aatii haga Shebaariimiititti Israa'eloota ari'anee, irraa gadee irratti namoota soddonii jaa ijjeesane. Achiin duuba gadhaan kolbaa Israa'elii akka gaga'aa baqeera.

⁶ Yoos Iyaasu'uu fi sooreyyiin Israa'elii gaddanee woyaa ifii tarsaasane; isaan mataa ifii irratti bukuu facaafatane, Saanduga Gondooroo Mootii Waan Maraa duratti lafatti gad gombifamane, haga galgalaa achi turane.

⁷ Iyaasuun, «Maaloo, Gootaa Mootii Waan Maraa! Kolbaa tana as laga Yordaanosii gamatti maaf buutte? Harka worra Amoorotaatitti kennitee nu balleessiisaafii? Adoo laga Yordaanosiitiin gamatti hannee hin jiraannuu!

⁸ Ee Goota'a, Israa'elooti diinota ifii eega baqatte, ani maan jedha ree?

⁹ Worri Kana'aanotaatii fi worri lafa san keessa jiru duudiin marroo waan kanaa hin dhage'an. Isaan nu duudii marsanee, lafa irraa nu hin balleessan. Maqaa guddaa keetiif jettee maan goota ree?» jedhe.

¹⁰ Mootiin Waan Maraa Iyaasu'uun, «Ka'! Maaf lafatti gad gombifante?

¹¹ Kolbaan Israa'elii cubbuu hujjeerti! Gondooroo tiyya ta ani akka eegatuuf ajaje diiddeerti. Waan ana Mootii Waan Maraatiif murteeffame irraa fudhattee, hattee, soddee karra ifii wolille'een keyatteerti.

¹² Tanaaf kolbaan Israa'elii diinota ifii dura dhaabbatuu hin dandeenne; akka woreegamanu ana Mootii Waan Maraatiif waan murteeffamanee, isaan diinota ifii duraa baqatan. Waan akka badduuf ani murteesse yoo balleessitane malee, ani deebi'ee isin woliin hin jiraadhu.

¹³ Ka'iitii kolbaa qulleessi! «Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii: Ee Israa'el! Wonni Mootii Waan Maraatiif murteeffame odduu teessan jira. Waan Mootii Waan Maraatiif murteeffame kana odduu teessanii haga baattanutti diinota keessan dura dhaabbatuu hin dandeettanu; boruuf ifi qulleessa'a.

¹⁴ Barii gosuma gosa keessaniin dhikaadha'a. Gosi Mootiin Waan Maraa filu golii maatii maati'iitiin, maatiin Mootiin Waan Maraa filu dhiirti tokko tokkoon Mootii Waan Maraa duratti dhikaatuu ti.

¹⁵ Nami wonni Mootii Waan Maraatiif murteeffame biratti dhaggame, Gondooroo Mootii Waan Maraa diigee, salphinna hamaa kolbaa Israa'elii keessatti waan godheef, innii fi wonni inni qabu marti gubamuu ti» jedhii isaanitti himi» jedhe.

¹⁶ Iyaasuun barrii halkaniin ka'ee Israa'el gosa gosaan fidee dhikeessee, Waaqi gosa Yihuda'aa file.

¹⁷ Iyaasuun gosa Yihuda'aa golii maatii maati'iitiin duratti dhikeessee, isaan keessaa Waaqi golii maatii Zaara'aa file. Achiin duuba maatiin Zaara'aa duudiin duratti dhikaattee, Waaqi maatii Zabdi file.

¹⁸ Achiin duuba Iyaasuun maatii Zabdi dhiira tokko tokkoon gara duraa dhikeesse. Waaqille Aakaanii ilma Karmii file; Karmi ilma Zabdi ti, Zabdi ilma Zaara'aa ti.

¹⁹ Iyaasuun ammalle Akaaniin, «Ilma kiyya, Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii ulfinna kenni; isa leellifadhu. Waan gootelle amma na hin dhossinii natti himi» jedhe.

²⁰ Akaan deebisee, «Dhuguma ani Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii yakkeera; wonni ani yakkelle,

²¹ meya dhagge keessaa woyaa dansaa worra Shiinaarii*, meetii gara kiiloogiraama lamaatii fi worqii gara giraama shantamaa dhaggee kajeelee fudhadhe. Woyaan dunkaana kiyya keessatti awwaalantee, meetiille woyaa jalaan jirti» jedhe.

²² Maarre Iyaasuun ergantoota erge; isaanille gara dunkaana isaa rukkisane meyy dunkaana keessatti awwaalamee, meetiin jalaan jirtuun dhaggane.

²³ Isaan meya dunkaana keessaa baasane addee Iyaasu'uu fi kolbaan Israa'elii duudiin jirtutti fidanee, Mootii Waan Maraa dura naqane.

²⁴ Achiin duuba Iyaasu'uu fi Israa'elooti duudiin Aakaanii ilma Zaara'aa, meetii, geellaa, Worqii cittuu, ilmaan isaatii fi ijoollee durraa ta isaa, loon, harree, hoolee, dunkaana isaatii fi waan inni qabu mara fuudhane gara dhooqa rakko'ootitti geessane.

²⁵ Iyaasuun Akaaniin, «Ati maaf rakkoo tana nutti fidde? Mootiin Waan Maraa adha rakkoo sitti hin fida» jedhe; kolbaan Israa'elii marti Aakaanii fi maatii isaa dhaka'aan tumanee ijjeesane, ibiddaan gubane.

²⁶ Aakaanii gubame irratti tuulaa dhaka'aa guddoo itti tuulane; tuulaan dhaka'aa sun haga adhaalle jirti. Mootiin Waan Maraalle aaree gubatiisa lakkise.

Tanaaf addeen sun haga adhaalle, «Dhooqa rakko'oo†» jedhanti.

8

Diigamiisa Qachaa Aayii

¹ Mootiin Waan Maraa Iyaasu'uun, «Hin sodaatin! Gadhaa hin guurin! Loltoota teeti duudii fudhadhuutii gara qachaa Aayii ol bayi; kunoo ani mootii qachaa Aayii, kolbaa isaa, qachaa isaatii fi lafa isaa harka keetitti dabarsee kennaara.

² Akkuma qachaa Yeriko'ootii fi mootii qachaa Yeriko'oo goote, qachaa Aayiitii fi mootii qachaa saniille akkasuma hin goota; ammoo hori'ii fi waan qachaa keessaa boojitu ifiif fudhadhu; loltoota teeti keessaa garii qachaa duubaan kushee qabachiisi» jedhe.

³ Maarre Iyaasuun loltoota ifii duudii woliin qachaa Aayii loliisaaf ka'e. Inni loltoota ifi worra irra jajjabaa kuma soddoma filee halkaniin ergee,

⁴ isaan ajajee, «Miidhassa'aa caqasa'a. Qacha'aan duubatti kushee qabadha'aatii loliisaaf qophowa'a malee, irraa guddoo hin fagaatina'a.

⁵ Anii fi namooti na woliin jiranu qacha'atti hin dhikaanna. Yennaa isaan akkuma durii nu loliisaaf bayanu, isaan duraa hin baqanna.

⁶ Isaan «Akkuma durii nu duraa baqataaran» jedhane, qachaa keessaa haga isaan fageessinutti nu ari'an.

⁷ Achiin duuba kushee keessaa baya'aatii, qachaa qabadha'a. Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan qachaa san dabarsee isiniif hin kenna.

⁸ Qachaa qabattaneen duuba guba'a. Akkuma Waaqi ajaje godha'a; kunoo, ani isinitti himeera» jedhe.

⁹ Maarre Iyaasuun erge; isaanille addee san dhaqanee, qachaa Aayii irraa gara aduun seentuun qachaa Aayiitii fi Bet'elii oddu'utti riphane eegane; Iyaasuun ammoo halkan san loltoota hafane kaan bira bule.

¹⁰ Iyaasuun barii halkaniin ka'ee, loltoota ifii gogeessatti galche. Achiin duuba innii fi sooreyyiin Israa'elii worra duulu gara qachaa Aayii sooreessane.

¹¹ Loltooti isa woliin jiranu duudiin ol bayanee, qachaa Aayiitiin dura gara kaabaatitti qubatane; isaanii fi qachaa Aayi odduu dhooqatti jiraayyu.

* 7:21 Shiinaar: Biyya Baabilonii ti. † 7:26 Dhooqa rakko'oo: Afaan Ibrootaatiin Aakor jechu'u.

¹² Iyaasuun namoota gara kuma shanii fuudhee, akka isaan riphanee eegannuuf qachaa Aayii irraa gara aduun seentutti Bet'elii fi Aayi odduu keye.

¹³ Loltoota garii qachaa irraa gara kaabaatitti, ka hafane gara aduun seentutti addee qabachiisane. Iyaasuun ammoo halkan san dhooqa keessa bule.

¹⁴ Mootiin Aayii tana yennaa dhagge, innii fi namooti qachaa keessa jiranu duudiin barii halkaniin ariifatane, kolbaa Israa'elii loliisaaf gara fuullee Arabaayititti* gad bayane. Mootichi ammoo akka namooti qacha'aan duubatti riphanee eegisatti jiranu hin beenne.

¹⁵ Iyaasu'uu fi kolbaan Israa'elii duudiin waan injifatamane ifi fakkeessanee gara goomole'ee baqatane.

¹⁶ Namooti qachaa Aayii duudiin akka isaan ari'annuuf waamamane; isaanille adoo Iyaasuu ari'annu qachaa irraa fagaatane.

¹⁷ Nami Israa'eloota ari'iisaaf qachaa Aayiitii fi Bet'elii keessaa hin bayin hin jiruuyyu. Isaan qachaa eeddoo malee lakkisane kolbaa Israa'elii ari'ane.

¹⁸ Achiin duuba Waaqi Iyaasu'uun, «Eboo teeti gara qachaa Aayii qabi; ani qachaa kana harka keetitti dabarsee kennaara» jedhe; Iyaasuulle eboo ifii gara qachaa Aayii qabe.

¹⁹ Akkuma inni harka ifii ol kaaseen, loltooti riphaneeranu ariiti'in ka'annee gara qacha'aa fiigane qachaa san qabatane, yoosuma ibidda itti qassiisane.

²⁰ Worri qachaa Aayii garagalee yennaa ilaalu, aarri qachaa keessaa ol ka'uun dhagge. Kolbaan Israa'elii ta gara goomole'ee baqataa turte, worra isaan ari'u loliisaaf waan itti garagalteef, worri ari'u karaa miliqu dhabe.

²¹ Iyaasu'uu fi kolbaan Israa'elii duudiin, worri kushee qabatee riphe akka qachaa qabatee fi aarri qachaa keessaa akka ol ka'e yennaa dhaggane, garagalanee worra qachaa Aayii adhane.

²² Worri qachaa qabate sun qachaa keessaa bayee loliisaaf gad dhufe; maarre Israa'elooti worra qachaa Aayii marsanee, nami tokkolle adoo hin hafin yookiin hin miliqin ijjeesane fixane.

²³ Mooticha qachaa Aayii ammoo booji'annee gara Iyaasu'uu geessane.

²⁴ Worri Israa'elii, namoota qachaa Aayii worra isaan ari'uu dhage duudii goomolee keessatti nami tokkolle adoo hin hafin shallaaga'aan ijjeesane fixane. Achiin duuba gara qachaa Aayii deebi'annee worra achi keessaa duudii shallaaga'aan ijjeesane.

²⁵ Gaafa san kolbaan qachaa Aayii marti dhiiraa fi dubartiin kuma kudhanii lamaa dhumate.

²⁶ Worri qachaa Aayii keessa jiru duudiin haga dhumatutti, Iyaasuun harka ifii ka ittiin eboo qacha'atti qabe gad hin buufanne.

²⁷ Worri Israa'elii ammoo akkuma Waaqi Iyaasuu ajajetti, hori'ii fi waan qachaa keessaa booji'ane fudhatane.

²⁸ Maarre Iyaasuun qachaa Aayii gubee, akka tuulamu godhe. Qachaan sun haga adha akkasuma jira.

²⁹ Iyaasuun mooticha qachaa Aayi muka irratti fannisee, haga galgalaa achitti lakkise; yennaa aduun seentu reeffa muka irraa buusane, seensuma karra qacha'aatitti akka gatanu ajaje. Isaan tuulaa dhaka'aa guddoo itti tuulane; tuulaan sun haga adhaa achi jirti.

³⁰ Achiin duuba Iyaasuun gaara Ebaalii irratti Gootaa Waaqa Israa'eliitiif addee ciinca'aa huje.

* **8:14** Arabaayi: Afaan Ibrootaatiin *diida goomole'ee* jechu'u.

³¹ Iyaasuun akka Muuseen tajaajilaan Waaqaa kolbaa Israa'elootaa ajajee fi akka kitaaba Seera Muuse'ee keessatti barreeffantetti, dhakaa hin bocaminii fi ka mey sibiilaa hin tuqin irraa addee ciinca'aa huje. Isaan achi irratti ciinca'aa fi woreega tokkumma'aa[†] Mootii Waan Maraatiif dhikeessane.

³² Achitti inni Israa'elootaa duratti, seera Muuseen barreesse irraa dhakoota irratti barreesse.

³³ Kolbaan Israa'elii duudiin, jaarsolee isaanii, gondaaltotaa fi abbootii mura'aa ta isaaniitii fi orma isaan woliin jiru wolille'een Saanduqa Gondooro'oo garanaa fi gara kaaniin Lewwoota worra hayyoota Saanduqa Gondooro'oo ba'atane dura dhaabbattane; Muuseen tajaajilaan Waaqaa kolbaa Israa'elii akka eebbisanu dursee akkuma isaan ajajetti worri gariin gara gaara Geriiziimiititti, worri gamisi gara gaara Ebaalititti garagalee dhaabbate.

³⁴ Achiin duuba Iyaasuun Seera duudii, eebbaa fi abaarsa, akkuma kitaaba Seeraa keessatti barreeffame qoonqoo guddoon dubbise.

³⁵ Dubbii Muuseen ajaje duudii keessaa, wonni Iyaasuun wolde'a Israa'elii dubartoota, ijoolle'ee fi worra orma isaan woliin jiru duudi'itti hin dubbisin hafe hin jiru.

9

Worri Giibe'onii Iyaasuu Sobe

¹ Moototi Yordaanos irraa gara aduun seentuu ta biyya koobitti'ii, biyya gammoojji'itii fi qarqara Abbaayaa Mediteraaniya'aa haga kaaba Libaanon-iititti jiranu, moototi Heetotaa, Amoorotaa, Kana'aanotaa, Pheriizotaa, Hiiwotaatii fi Yibusootaa duudiin waan kana yennaa dhage'ane,

² Iyaasu'uu fi kolbaa Israa'elii loliisaaf wolitti dacha'ane dhufane.

³ Worri lafa Giibe'onii Hiiwoti ammoo, waan Iyaasuun qachaa Yeriko'ootii fi Aayii irratti godhe yennaa dhage'ane,

⁴ Iyaasuu sobiisaaf murteeffatane. Isaan worra lafa fago'ootii ergamane ifi fakkeessanee, galaa qopheeffatane, subba dullootaa fi qalqalluu daadhii woyni'ii ka dulloomee tarsa'ee erbame harree ifiititti fe'atane.

⁵ Isaan kophee dulloontee hodhante keyatanee, woyaa dulloontelle uffatane. Daabboon isaan galaa godhatane duudiin goddu'uu fi ta buullansootte.

⁶ Achiin duuba isaan gara quttuma Iyaasu'uu Giilgal dhaqanee, Iyaasu'uu fi Israa'elootaan, «Nuuti isiniin firoomiisaaf lafa fago'ootiin dhunneerra, kowa'a wol gondoorra» jedhane.

⁷ Israa'elooti ammoo Hiiwotaan, «Isin dhikoo teenna leetan fa te'a, attamiin wol gondoorra ree?» jedhane.

⁸ Isaan Iyaasu'uun, «Nuuti tajaajiltoota teeti» jedhane.

Iyaasuun ammoo, «Isin eennu? Eessaa dhuttane» jedhee isaan gaafate.

⁹ Isaanille deebisane, «Nuuti tajaajiltooti teeti, gurra Gootaa Waaqa keetii, waan inni biyya Gibxi'iititti godhe duudii dhageennee, biyya fago'ootii dhunne;

¹⁰ waan inni mootota Amoorotaa lamaan worra laga Yordaanosii irraa gara aduun baatu jiranu, Sihoonii mootii Heshibooniitii fi Oogii mootii Baashaanii ka qachaa Ashtaaroo le'anuu godhe duudiille dhageenneerra.

¹¹ Jaarsoleen teennaa fi worri biyya teenna keessa le'u duudiin nu'uun, «Deensa kara'aatiif galaa qabadha'aatii, gara Israa'elootaa deema'aatii isaanii wol dhagga'a; isaanille'een, «Nuuti tajaajiltoota teessan; kowa'a wol gondoorra» » jedha'a.

[†] 8:31 Woreega tokkumma'aa: Yookiin nageya.

¹² Daabboo teenna ilaala'a. Yennaa nuuti isiniin wol dhaggiisaaf mana keennaa qabannee baane o'itu'u. Amma ammoo, akka isiin goddee buullan-sootte ilaala'a!

¹³ Qalqallooti daadhii woyni'ii kana yennaa itti guutanne haareya; amma kunoo tatarsa'eera. Karaa fagoo deemiisa keenna irraa ka ka'e woayaan teennaa fi kopheen teenna dulloonteerti» jedhane.

¹⁴ Israa'elooti sagalee diqqoo jara irraa fudhatane malee, marroo waan kanaa fedha Waaqaa hin gaafanne.

¹⁵ Maarre Iyaasuun akka isaan hin ijjeenne isaan woliin wol gondoore; jaarsoleen kolba'aalle gondoороо san eegiisaaf kakatte.

¹⁶ Wol gondooree guyyaa sadiin duuba, Israa'elooti, worri kun ollaa isaaniitii fi worra dhikoo isaanii jiru akka te'ane dhage'ane.

¹⁷ Guyyaa sadiin duuba kolbaan Israa'elii addee quttumaatii kaatee, gara qachaa worri kun le'uu Giibe'on, Kefiraa, Berootii fi Kiriyyat-Ya'ariimii dhaqane.

¹⁸ Israa'elooti ammoo sooreyyiin isaanii maqaa Gootaa Waaqa Israa'eliitiin waan isaaniif kakataneef isaan hin ijjeenne. Israa'elooti duudiin marroo waan kanaa sooreyyii irratti gungunte.

¹⁹ Sooreyyiin ammoo, «Nuuti maqaa Gootaa Waaqa Israa'eliitiin isiniif kakanneerra; tanaaf amma isaan miidhuu hin dandeennu.

²⁰ Kakuu isaaniif kakanne diinneef mufiin Waaqaa akka nutti hin dhunne, kowa'a jiraatanuu lakkinna.

²¹ Akkuma sooreyyiin isaanitti murteessitetti jiraatanuu ti; ammoo qoraan biyyaaf cassaa, bisaan biyyaa woraabanuu ti» jedhane.

²² Iyaasuun worra Giibe'onii waansisee, «Isin as dhikoo teenna adoo leetanuu, «Nuuti fago'oo dhunne» jettanee maaf nu soddane?

²³ Tana waan gootaneef, Waaqi isin abaareera. Kolbaan teessan qoraan cassiisaa fi bisaan woraabiisaan, mana Waaqa kiyyaatiif haga bara baraa garboolee te'an» jedhe.

²⁴ Isaan deebisaneef Iyaasu'uun, «Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan lafa tana duudii isin akka dhaalchisuu fi kolbaa lafa tana keessa jiraattu duudii akka balleessu, tajaajilaa ifii Muusee akka ajaje waan dhageenneef, isin guddoo sodaannee lubbuu teenna hamburatiisaaf tana goone.

²⁵ Kunoo, nuuti harka keeti keessa jirra; waan ila teeti duratti dansa'aa fi sirrii te'ee mudhate nu irratti godhi» jedhaneen.

²⁶ Tanaaf Iyaasuun harka Israa'elootaa irraa isaan hambure; Israa'elootille isaan hin ijjeenne.

²⁷ Gaafas Iyaasuun jara san qoraan cassaa, bisaan woraabaa, kolbaa Israa'eliitii fi addee ciincaa Mootii Waan Maraa akka tajaajilanu godhe. Isaan haga adhaa addee inni akka itti waaqonfamuuf filatetti hujii tana hujjisatti jiran.

10

Aduun Dhaabbatte

¹ Adoonii-Zedeq mootiin Yerusaalemii, Iyaasuun qachaa Aayii fudhatee ijumaa akka balleesse, waan inni qachaa Yeriko'ootii fi mootii Yeriko'oo, Aayii fi mootii Aayii godhe, worri Giibe'onille Israa'eloota woliin akka wol gondooree woliin le'iisatti jiranu yennaa dhage'e,

² qachaan Giibe'onii akkuma qachoota moototaan bulanuu, qachaa gudda'aa fi qachaa Aayi caalaa guddaa, loltootille jajjaboo waan te'aneef, Adoonii-Zedeqii fi namooti isaa guddoo sodaatane.

³ Maarre Adoonii-Zedeq mootiin Yersaalemii, gara Hohaamii mootii Kebroonii, Fiiraamii mootii Yarmuutii, Yaafii'aa mootii Laakiishii, Deebirii mootii Egaloonii ergee,

⁴ «Worri Giibe'onii, Iyaasu'uu fi kolbaa Israa'elii woliin le'iisaaf waan wol gondooreef, kowa'a qachaa kana loliisa na qarqaara'a» jedhe.

⁵ Achiin duuba mootiin Yersaalemii, mootiin Kebroonii, mootiin Yarmuutii, mootiin Laakiishii, mootiin Egloonii, moototi Amoorotaa shanan kun loltoota ifii woliin ol bayanee, Giibe'on marsanee lolane.

⁶ Worri Giibe'onii gara Iyaasuu addee Giilgal jedhantutti qubateeruu ergatanee, «Moototi Amoorotaa worri biyya koobittii keessa le'u duudiin, nu loliisaaf waan wolitti qabamaneeranuuf, gootaa keenaa nutti hin daaw'atin; dafii koyii nu qarqaar; nu hamburi» jedhane.

⁷ Tanaaf Iyaasuun loltoota ifii duudi'ii fi loltoota lolaan beekkamane woliin Giilgalii bayanee deemane.

⁸ Waaqi Iyaasu'uun, «Ani injifachaa waan sii kenneeruuf isaan hin so daatin; isaan keessaa nami tokkolle si dura dhaabbatuu hin dande'u» jedhe.

⁹ Iyaasuun Giilgalii ka'ee halkan guutuu deemaa bulee dedhuma worra Amoorotaattitti dhufe.

¹⁰ Waaqi Amooroti Israa'eloota duratti gara itti goranu akka wollaalanu godhe; Israa'elooti Giibe'onitti isaan qalanee, worra hafelle karaa Bet-Horoonitti ol bawu irraa, haga qachaa Aazeqa'aatii fi qachaa Maqeda'aattitti ari'ane.

¹¹ Worri Amoorotaa Israa'elootaan dura Bet-horoon irraa gad adoo baqatuu, haga Aazeqa'aattitti Waaqi gubbaa irraa dhakaa bokkeyaa gugurdaa isaanitti buuse; worra Israa'elooti shallaaga'aan ijjeesane caalaa, worra dhakaa bokkeyaatiin du'etti caala.

¹² Guyyaa Waaqi worra Amoorotaa Israa'elootatti dabarsee kenne, Iyaasuun kolbaa Israa'elii dura dhaabbatee Waaqaan, «Adu'u, gaara Giibe'onii gubba'atti dhaabbadhu;

Ji'a, dhooqa Ayalonii gubba'atti dhaabbadhu» jedhe.

¹³ Israa'elooti diinota ifii haga haluu bayanutti aduun dhaabbatte; jiinille adde'ee hin tachoone. Tunille kitaaba Yaashaar barreesse keessatti dhag-ganti. Aduun guyyaa san guutuu wodhakkaa gubbaa irratti dhaabbattee turte malee, seeniisaaf hin ariifanne.

¹⁴ Gaafas Waaqi Israa'elootaaf waan loleef, guyyaan Waaqi itti namaaf dhage'e ka akkasii tanaan qara yookiin duuba tokkolle te'ee hin beeku.

¹⁵ Achiin duuba Iyaasu'uu fi loltooti isaa duudiin, gara addee itti qubataanee Giilgalitti deebi'ane.

Moototi Shanan Ijjeefamane

¹⁶ Moototi Amoorotaa Shanan baqatanee goda Maqeda'aa keessatti dhokatane.

¹⁷ Moototi Shanan tun goda Maqeda'aa keessatti akka dhokataneeranu Iyaasu'utti himame.

¹⁸ Iyaasuun, «Dhakaa gugurdaa afaan godaattitti gangalcha'aatii, namoota eeganu itti godha'a.

¹⁹ Isin ammoo achi hin turina'a. Diinota keessan ari'aatii duubaan isaan lola'a; Gootaan Waaqi keessan injifachaa waan isinii kenneeruuf, akka isaan qachoota ifiititti seenanu hin godhina'a» jedheen.

²⁰ Iyaasu'uu fi Israa'elooti diinota ifii ijjeesane; worri gariin callaan qachaa ifii ka dalleenni itti ijaarame seenee hafe.

²¹ Achiin duuba namooti Iyaasu'uu duudiin nageyaan gara addee quttuma isaa Maqeda'atti deebi'ane.

Nami lafa sanii tokkolle Israa'elootatti hin gamne.

²² Achiin duuba Iyaasuun, «Afaan godaa bana'aatii mootota shanan san achi keessaa gad baasa'aatii natti fida'a» jedhe.

²³ Maarre isaan mootota shanan san mootii Yerusaalemii, mootii Kebronii, mootii Yarmuutii, mootii Laakiishiitii fi mootii Egloonii goda keessaa gad baasane gara isaa fidane.

²⁴ Yennaa isaan mootota san gara Iyaasu'uu fidane, Iyaasuun namoota Israa'elii duudii waamee, ajajjoota woraanaa ta ifitiin, «As kowa'aatii miila keessaniin morma mootota kanaa irra ijjadha'a» jedhe. Isaanille dhufanee miila ifitiin morma mootota sanii irra ijjatane.

²⁵ Iyaasuulle ajajjuu woraana ifitiin, «Diinota keessan worra isin lolu'uuf jirtanu duudii Waaqi akkasuma waan godhuuf hin sodaatina'a; hin nayina'a, jabaadha'a jajjabaadha'a» jedheen.

²⁶ Achiin duuba Iyaasuun mootota shanan san ijjeesee, muka shan gubba'atti fannise; reeffi isaaniille haga galgalaa achuma ture.

²⁷ Aduun seenaartuun Iyaasuun reeffi mootota sanii mukoota itti fannifame irraa akka gad buufamuu fi goda isaan dur dhokatanee turanetti akka gatamu ajaje. Isaan dhakoota gugurdaa afaan godaa irra keyane; dhakooti sun haga adhaa achi jiran.

Iyaasuun Lafa Amoorotaa Hedduu Qabate.

²⁸ Iyaasuun gaafuma san Maqedaa qabatee, namoota qachaa san keessaatii fi mooticha qachaa sanii shallaaga'aan ijjeese; nama qachaa san keessaa tokkolle hin hamburre. Inni mootii Yeriko'oo akkuma godhe, mootii Maqeda'aalle godhe.

²⁹ Achiin duuba Iyaasu'uu fi Israa'elooti isa woliin jiranu marti qachaa Maqeda'aatii gara qachaa Liibna'aa taranee qachaa san lolane.

³⁰ Waaqi qachaa Liibna'aatii fi mootii qachaa sanii harka Israa'elootaattitti dabarsee kenne. Isaan namoota qachaa sanii ijjeesane, nama tokkolle hin hamburre. Isaan mootii Yeriko'oo akkuma godhane, mootii Liibna'aalle godhane.

³¹ Achiin duuba Iyaasu'uu fi kolbaan Israa'elii duudiin qachaa Liibna'aatii gara qachaa Laakiishii taranee marsanee lolane.

³² Lolli jalqabee guyyaa lammeesso'ootitti Waaqi qachaa Laakiishii harka Israa'elootaattitti dabarsee kenne; isaan akkuma qachaa Liibna'aa godhane, namoota qachaa Laakiishii keessa jiranu duudii shallaaga'aan ijjeesane.

³³ Yennuma san Horaam mootiin Gezerii, kolbaa Laakiishi qarqaariisaaf dhufe; Iyaasuun ammoo Horaamii fi loltoota isaa injifate. Isaan keessaa nami tokkolle hin hanne.

³⁴ Achiin duuba Iyaasu'uu fi Israa'elooti isa woliin jiranu duudiin qachaa Laakiishiitii ka'anee, gara qachaa Egloonii dhaqanee marsanee lolane.

³⁵ Isaan gaafasuma qachaa san qabatanee, akkuma qachaa Laakiishii godhane namoota qachaa san keessa jiranu duudii ijjeesane.

³⁶ Achiin duuba Iyaasu'uu fi Israa'elooti isa woliin jiranu duudiin Egloonii ka'anee ol bayanee qachaa Kebronii lolane.

³⁷ Isaan qachaa Kebroniitii fi olloota qachaa sanii qabatanee, mootichaa fi namoota mara shallaaga'aan ijjeesane; akkuma qachaa Egloonii godhane qachaa Kebroniille balleessanee, nami tokkolle hin hanne.

³⁸ Achiin duuba Iyaasu'uu fi Israa'elooti isa woliin jiranu duudiin deebi'anee qachaa Deebirii lolane.

³⁹ Isaan qachaa san, mootii qachaa saniitii fi ollaa cinaa qachaa sanii duudii qabatanee, namoota qachaa san keessaa mara balleessane; nami

tokkolle hin hanne. Akkuma Kebroon, Liibna'aa fi mootii isi'ii godhane, Deebirii fi mootii isi'iille akkasuma godhane.

⁴⁰ Maarre Iyaasuun lafa duudii, biyya koobittii, goodda gara aduun baatuutii fi biyya kooba jalaa, akkasuma biyya goomolee kibba Kana'aanii*, mootota isaanii mara injifate. Inni akkuma Goottaan Waaqi Israa'elii ajaje nama duudii balleessee, nami tokkolle hin hanne.

⁴¹ Iyaasuun Qaadesh Barne'aan haga Gaaza'aa, adaala lafa Gooshenii duudii dabalatee haga qachaa Giibe'onii injifate.

⁴² Goottaan Waaqi Israa'elii kolbaa Israa'eliitiif waan loleef, Iyaasuun mootota tana duudi'ii fi lafa isaanii yennuma takka'aan qabate.

⁴³ Achiin duuba Iyaasuun Israa'eloota isa woliin jiranu duudii woliin quttuma Giilgaliititti deebi'ane.

11

Moototi Kaaba Kana'aanii Injifatante

¹ Yaabiin mootiin Hazoorii kolbaan Israa'elii akka injifatte yennaa dhage'e, gara Yobaabii mootii Maadonii, gara mootota Shimrooniitii fi Akshaafii,

² gara mootota biyya koobittii kaabaa, gara mootota dhooqa laga Yordaanosii kibba Abbaayaa Galiila'aa jiranuu, gara mootota kooba jalaatii fi mootota biyya koobittii Door jedhantuu, ta gara aduun seentuun cinaa abbaaya'aatitti dhaggantuu dhaansa erge.

³ Akkasuma gara Kana'aanota baya adu'uutii fi seensa adu'uu jiranuu, gara Amoorotaa, gara Hiiwotaa, gara Pheriizotaa, gara Yibusootaatii fi Hiiwota worra biyya Miisphaa keessa kooba Hermoon jala jiranuu dhaansa erge.

⁴ Isaan loltoota ifii worra akka maansa irga abbaaya'aa hedduu, fardo'oo fi garreettaa fardo'oon harkifamu hedduu woliin dhufane.

⁵ Moototi tun duudiin loltoota ifii wolitti gurmeeffatane, Israa'eloota loliisaaf bisaan Meromii bira qubatane.

⁶ Waaqille Iyaasu'uun, «Isaan hin sodaatin. Ani boru yennaa tana isaan mara harka Israa'elootaatitti dabarsee kenne, akka qalamanu godha. Ati mogolee fardoo isaanii mogolchiitii, garreettaa isaanii ka fardoole'een harkifamulle ibiddaan guggubi» jedheen.

⁷ Maarre Iyaasu'uu fi loltoota isaa duudiin dedhuma bisaan Meromii biratti isaan lolane.

⁸ Waaqille harka Israa'elootaatitti dabarsee isaan kenne. Israa'elooti isaan lolanee haga Sidoonii gudditti'ii, haga Misrefot-Maayimii, karaa aduun baatu haga dhooqa Miispha'aa ari'ane. Nyaapha isaanii keessaa nami tokkolle adoo hin hafin fixane.

⁹ Iyaasuun akkuma Waaqi isa ajaje godhe; inni fardoo isaanii mogolchee, garreettaa isaanii ka fardo'oon harkifamulle guggube.

¹⁰ Yennaa san Iyaasuun gara duubaatitti deebi'ee qachaa Hazoorii qabatee, mootii qachaa saniille shallaaga'aan ijjeese. Qachaan Hazoorii dur mootummaa san duudi'iif qachaa guddicha.

¹¹ Isaan worra achi keessaa duudii shallaaga'aan ijjeesane; nami tokkolle hin hanne; qachaan Hazoorii gubate.

¹² Akkuma Muuseen tajaajilaan Waaqaa ajaje, Iyaasuun qachoota sanii fi mootota qachaa sanii duudii qabatee, namoota duudii shallaaga'aan ijjumaa balleesse.

¹³ Ammoo qachaa Hazoorii ka Iyaasuun gube qofa malee, Israa'elooti qachoota addee dur diigame irratti ijaaramane keessa tokkolle hin gunne.

* **10:40** Kibba Kana'aanii: *Afaan Ibrootaatiin Negeb Jedha.*

¹⁴ Israa'elooti waan bu'aa qabu duudi'ii fi horii qachaa san keessaa duudii fudhatanee ka ifii godhatane. Namoota qachaa san keessa jiranu duudii ammoo shallaaga'aan ijjeesane; nami tokkolle hin hanne.

¹⁵ Waaqi Muusee tajaajilaa ifii akkuma ajaje, Muuseen Iyaasuu ajaje; Iyaasuulle ajajameef. Iyaasuun waan Waaqi Muusee ajaje mara huje malee, tokkolle hin hamburre.

Biyya Iyaasuun Qabate

¹⁶ Iyaasuun lafa duudii biyya koobittii, biyya kooba jalaa, biyya goomolee kibba Kana'aanii, biyya Gooshenii duudii, biyya gammoojjittii, dhooqa laga Yordaanosii, biyya koobittii Israa'eliitii fi gammoojjii isi'ii qabate.

¹⁷ Iyaasuun gaara Halaakii ka gara Se'iirii* ol ka'u irraa haga Ba'aal-Gaadii gaara Hermooniitiin jala, dhooqa Libaanonii keessaa qabatee, mootota isaanii duudii shallaaga'aan ijjeese.

¹⁸ Iyaasuun mootota tana duudii yennaa hedduu loleera.

¹⁹ Hiiwota worra qachaa Giibe'onii keessa le'u malee, qachaan tokkolle Israa'elootaan wolii galtee nageyaa hin qabu. Worri dhibiin marti lolaan injifatamanee qabamane.

²⁰ Akka isaan Israa'eloota waliin wol lolanu, Waaqi mataa jabeeyyii isaan godhe; tanaaf ijjumaa akka badanu isaanitti murantee marartii malee ijjeefamane; kun ajaja Waaqi Muuse'eef kenne.

²¹ Iyaasuun yennaa san biyya koobittii, Kebroonii, Deebirii, Aanaabii, biyya koobittii Yihuda'aa maraa fi biyya koobittii Israa'elii maralle dhaqee Aanaaqota bibbineeyyii qachoota isaanii waliin ijjumaa balleesse.

²² Aanaaqota garii qofatti Gaazaa, Gaatii fi Ashidood keessatti hafe malee, lafa Israa'elootaa keessatti Aanaaqoti tokkolle hin hanne.

²³ Iyaasuun akkuma Waaqi Muusee ajaje, lafa san guutumatti qabatee, akka qooda gosa gosa isaaniititti Israa'elootaaf dhaala godhee kenne.

Achiin duuba kolbaan woraana irraa foorfatte.

12

Mootota Muuseen Injifate

¹ Lafa Yordaanosii irraa gara aduun baatu, dhooqa Aaroniitii haga gaara Hermoonii, dhooqa laga Yordaanosii irraa gara aduun baatu duudii moototi Israa'elooti injifatte isaan kana:

² Mootiin Amoorotaa Sihoon qachaa Heshiboonii keessa le'ee, qachaa Aro'erii ka irga dhooqa Aarnonii, dhooqa san keessa wodhakkaa Giil'aadiitii kaasee, haga laga Yaaboqii meessaa ilmaan Amooniititti,

³ gara aduun baatu dhooqa laga Yordaanosii irraa haga Abbaayaa Ken-erootitti, karaa Bet-Yeshiimootittille'een haga Abbaayaa Arabaayitii fi Abbaayaa sooddaa, karaa kibbaatiin haga goodda gaara Phiisga'aa bulche.

⁴ Akkasuma worra Refaa'otaa keessaa ka hafe Oogii mootii Baashaanii, qachaa Ashitaarotiitii fi Edraayin keessa le'ee ka bulche.

⁵ Lattii mootummaa isaa gaara Hermoonii, Saalkaanii, lafa Baashaanii duudii irraa haga meessaa Geshuurotaatii fi Ma'akaatotaa, wodhakkaa Giil'aadiitii haga meessaa Sihoonii mootii Heshiboonii ti.

⁶ Moototi lamaan sun Muusee tajaajilaa Waaqaatii fi kolbaa Israa'eliitiin injifatamane. Muuseen tajaajilaan Waaqaa lafa isaanii gosa Ruubeniitii fi gosa Gaadiitiif, akkasuma gosa Minaase'ee gamisaaf dhaala kenne.

Mootota Iyaasuun Injifate

* **11:17** Se'iir: Edoomille hin jedhama.

⁷ Iyaasu'uu fi kolbaan Israa'elii, mootota Yordaanosii irraa gara aduun seentuu, Ba'aal-Gaadi dhooqa Libaanonii keessaatii haga gaara Halaakii ka gara Se'iiriititti ol ka'u injifatane. Iyaasuun lafa san akka qooda gosa gosa isaaniititti lafa isaanii kenne.

⁸ Biyyi inni isaaniif kenne biyya koobittii, biyya koobaan jalaa ta gara aduun seentuu, dhooqa laga Yordaanosii, biyya goodda gaaraa, biyya goomole'eetii fi biyya kibba Kana'aanii, biyya Heetotaa, biyya Amoorotaa, biyya Kana'aanotaa, biyya Pheriizotaa, biyya Hiiwotaatii fi biyya Yibusootaa ti.

⁹ Kolbaan Israa'elii mootota qachoota asii gadii injifatte: mootii Yeriko'oo, mootii Aayi ka Bet'el cinaa jiru,

¹⁰ mootii Yerusaalemii, mootii Kebroonii,

¹¹ mootii Yarmuutii, mootii Laakiishii,

¹² mootii Egloonii, mootii Gezerii,

¹³ mootii Deebirii, mootii Gederii,

¹⁴ mootii Hormaa, mootii Araadii,

¹⁵ mootii Libna'aa, mootii Adulaamii,

¹⁶ mootii Maqeda'aa, mootii Bet'elii,

¹⁷ mootii Taafu'aa, mootii Heferii,

¹⁸ mootii Afeqii, mootii Lashaaronii,

¹⁹ mootii Maadonii, mootii Hazoorii,

²⁰ mootii Shimroon-Meronii, mootii Akshaafii,

²¹ mootii Ta'anaa, mootii Megidoo,

²² mootii Qedeeshii, mootii Yoqnaamii ka gaara Qarmelosii,

²³ mootii Doorii ka kooba Doorii gubba'aa, mootii qachaa Go'iimii ka lafa Galiila'aatii fi

²⁴ mootii Tiirza'aa ti; wolumatti mootota soddonii tokko.

13

Lafa Hin qabatamin Jirtu

¹ Yennaa Iyaasuun guddoo dulloome Waaqi isaan, «Ati guddoo dulloonteerta; lattii haga ammaa hin qabamin jirtu ammoo baca'a.

² «Lattii hin qabamin jirtu, lafa Filisxeemotaatii fi lafa Geshuurotaa,

³ laga Shiihorii ka Gibxii gara aduun baatu jiruu ka'ee haga meessaa kaaba Egroonii jiranu duudiin akka lafa Kana'aaniititti laakkowamane; tunille lafa mootota worra Filisxeemotaa shanan, Gaazaan, Ashidood, Ashiqalon, Gaat, Egroonii fi Aawoti.

⁴ Gara kaabaatiin, lafa Kana'aanotaa duudi'ii fi qachaa Ara'aa ka worra Sidoonotaatii haga qachaa Afeqii ka meessaa Amoorotaa ti.

⁵ Akkasuma lafa Geblootaa, Libaanon gara aduun baatu duudii, Ba'aal-Gaadi gara kibba gaara Hermoonitiin haga karaa Haamaatii ti.

⁶ «Worra biyya koobittii keessa le'u Libaanonii haga Misrefot-Maayimiititti, worra Sidoonii duudii ani Israa'eloota duraa hin ari'a. Ati ammoo akkuma ani si ajaje lafa san Israa'elootaaf goodi.

⁷ Lafa tanalle gosa sagalii fi gosa Minaase'ee gamisaaf dhaala akka te'u goodi» jedhe.

Qoodama Lafaa

⁸ Gosi Ruubenii, gosi Gaadiitii fi gosi Minaase'ee gamisi kuun, lafa Muuseen tajaajilaan Waaqaa isaaniif kenne duraanuu fudhataneeran. Latti sun laga Yordaanosiitiin gara aduun baatu.

⁹ Latti isaanii Aro'erii qarqara dhooqa Aarnoniitii jalqaddee, qachaa wodhakkaa dhooqa san keessa jirtulle, lafa gooroo Medebaatii haga Diibonii,

¹⁰ qachoota Sihooniin mootiin Amoorotaa, Heshiboon keessa tee'ee bulchaa ture duudii, haga meessaa Amoonotaa,

¹¹ Giil'aad irraa haga meessaa worra Geshuurotaatii fi Ma'akaatotaa, gaara Hermoonii duudii, Baashaan irraa haga Salekaahii,

¹² lafa mootummaa Oogii mootii Baashaanii, ka baraaree worra Refaa'otaa, qachaa Ashitaarotiitii fi Edraayii keessa le'ee bulchaa turelle dabalatti. Muuseen worra kana duudii injifatee lafa isaanii keessaa isaan baase.

¹³ Teetuu malee Israa'elooti worra Geshuurotaatii fi Ma'akaatotaa lafa keessaa hin baanne; isaan haga ammaa Israa'eloota keessa le'an.

¹⁴ Akkuma Waaqi Muusee ajaje, ciincaan Goottaa Waaqa Israa'eliitiif addee ciinca'aa irratti ciinceffamu dhaala gosa Lewwi'ii waan te'eef, Muuseen sanyii Lewwi'ii lafa dhaalaa hin kennine.

¹⁵ Muuseen gosa Ruubenii akka maatii maatii isaaniititti dhaala isaaniif kenne.

¹⁶ Latti isaanii Aro'erii qargara dhooqa Aarnonii irraa qachaa wodhakkaa dhooqa san keessa jiruun haga lafa gooroo adaala Medeba'aa ti;

¹⁷ akkasuma Heshiboonii fi qachoota gooroo irraa mara: Diibon, Baamot-Ba'aal, Bet-Ba'aal-Me'on,

¹⁸ Yaahaz, Qedemoot, Mefaat,

¹⁹ Kiriiyat-Aayim, Siibmaa, Zeraat-sherhaar ka kooba dhooqa keessaa,

²⁰ Bet-phe'or, goodda Phiisga'aa, Bet-Yeshiimoot,

²¹ qachoota gooroo irraa mara, lafa mootummaa Sihoonii mootii Amoorotaa ka Heshiboon keessa le'ee bulchaa turee ti. Muuseen mooticha Sihoon, sooreyyii worra Miidiyaaniitii fi worra biyya san jiru Ewii, Reqem, Zuur, Huur, Rebaa worra Sihoon woliin jiru injifate. Worri kun duudiin Mooticha Sihooniin jalatti lafa bulchane.

²² Worra Israa'elooti ijjeesane keessaa tokko morticha Bala'aamii ilma Phe'orii ti.

²³ Meessaan gosa Ruubenii gara aduun seentuun laga Yordaanosii ti. Qachootaa fi ollooti kun gosa Ruubenii akka maatii maatii isaaniititti lafa isaanii ti.

²⁴ Latti Muuseen ammalle gosa Gaadiitiif akka maatii maatii isaaniititti dhaala kenne:

²⁵ Lafa Yaazerii, qachoota Giil'aadii duudii, lafa Amoonotaa gamisa, haga Aro'erii lafa Raabaa irraa gara aduun baatu jirtu,

²⁶ Heshiboon irraa haga Raamaat-Miispha'aatii fi Betoniimii, Mahanaayim irraa haga meessaa Deebirii,

²⁷ dhooqa Yordaanosii keessa qachoota mootummaa Sihoonii mootii Heshibooniitiif hafane Bet-Haraam, Bet-Niimraa, Suukootii fi Zaafon. Meessaan qachoota kanaa gara aduun seentuun laga Yordaanosii yennaa te'u, gara kaabaatiin haga Abbaayaa Galiila'aa* ti.

²⁸ Qachootaa fi ollooti kun gosa Gaadiitiif akka maatii maatii isaaniititti lafa isaaniif kenname.

Muuseen Gosa Minaase'ee Gamisaaf Lafa Kenne

²⁹ Muuseen gosa Minaase'ee gamisaaf akka maatii maatii isaaniititti lafa isaanii kenne.

³⁰ Latti isaanii Mahanaayimii haga lafa mootummaa Oogii mootii Baashaanii, Baashaan duudii, qachoota jaatama ka Yaa'iirii lafa Baashaanii keessa jiru mara,

³¹ lafa Giil'aadii gamisa, Ashitaarotii fi Edraayii qachoota Oog mootii Baashaanii ti. Qachooti kun duudiin ka Maakiirii ilma Minaase'ee te'anee,

* **13:27 Abbaayaa Galiila'aa:** Afaan Ibrootaatiin Abbaayaa Kiineretii jedha.

gamisa ilmaan Maakiiriitiif akka maatii maatii isaaniititti isaaniif kennamane.

³² Muuseen Yerikoo gara aduun baatuun Yordaanosiin gama, dirree Mo'aabii yennaa jiru, latti inni isaanii qoode tana.

³³ Gootaan Waaqi Israa'elii akkuma isaanii waadaa gale, inninuu lafa isaanii waan te'eef, Muuseen gosa Lewwi'iitiif lafa hin kennine.

14

Qoodama Lafa Yordaanos Irraa Gara Aduun Seentuu

¹ Latti Kana'aanii ta Yordaanos irraa gara seensa adu'uu ta hayyichi Ele'azaar, Iyaasuun ilmi Nuniitii fi sooreyyiin maatii gosoota Israa'elii, Israa'elootaaf qoodde ta asii gad jirtu.

² Lafa san akka Waaqi Muusee ajajetti laga Yordaanosiitiin gara seensa adu'uu gosa sagalii fi gosa gamisaaf hixaa buusanee goodane.

³ Muuseen lafa laga Yordaanosiitiin gara aduun baatuu gosa lamaa fi gamisa gosaatiif kenneeraayyu. Gosa Lewwi'iitiif ammoo lafa hin kennine.

⁴ Ilmaan Yoseefii, Minaase'ee fi Efreem gosa lama te'ane; gosa Lewwi'iitiif ammoo qachoota keessa le'anuu fi lafa horii itti bobbaafatanu malee, latti isaaniif hin kennanne.

⁵ Israa'elooti akkuma Waaqi Muusee ajajetti lafa san goodamane.

Kebroon Kaalebiif Kennante

⁶ Gaafa tokko gosa Yihuda'aa keessaa namooti Giilgalitti gara Iyaasu'uu dhufane. Isaan keessaa tokko Kaalebiin ilmi Yofunee Qenazichaa, Iyaasu'uun, «Waan Waaqi Qaadesh-Barne'aatti marroo teetii fi tiyya Muusee nama Waaqaatitti dubbate hin beetta.

⁷ Yennaa Muuseen tajaajilaan Waaqaa, Qaadesh-Barne'aa gara Kana'aanii dhaqee akka dooyuuf na erge, ani nama woggaa afurtamaa ti; ani deebi'ee gabaassa addachiisaa isatti himeera.

⁸ Namooti na woliin dooyiisa dhaqane kolbaa teenna sodaachisanee sheephisiisane; ani ammoo Gootaa Waaqa kiyyaaf addatamumma'aan ajajameera.

⁹ Gaafuma san Muuseen, «Gootaa Waaqa kiyya gadhaa keeti tokkochaan waan hordotteef, latti ati irra ijattu bara baraan si'ii fi ijoollee teetiif teeti» jedhee waadaa naaf galeera.

¹⁰ «Amma kunoo, Waaqi akkuma woggaa afurtamii shaniin dura Israa'elooti goomolee keessa deemiisatti adoo jiranuu Muuse'etti dubbate eegee na jiraachiseera. Amma ani nama woggaa saddeettamii shanii ti.

¹¹ Ani akkuma gaafa Muuseen na erge sanii jaba'a. Ani adhalle loliisaaf, bayiisaa fi galiisaafille akkuma durii jaba'a.

¹² Amma yoona, biyya koobittii Waaqi gaafa san waadaa naaf gale naa kenni. Worri Aanaaqotaa bibbineeyyiin akka achi jiranu, qachooti isaaniille dalleya dhaka'aa jabaa akka qabu dhageetteerta. Ammoo Waaqi yoo na qarqaare akkuma inni jedhe ani achi keessaa isaan hin baasa» jedhe.

¹³ Iyaasuun, Kaalebii ilma Yofunee eebbisee qachaa Kebroonii lafa isaa godhe kenneef.

¹⁴ Kaalebiin ilmi Yofunee Qenazichaa, Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'eliitiif gadhaa tokkoon waan ajajameef, qachaan Kebroonii haga adhaa lafa sanyii isaa te'e.

¹⁵ Maqaan qachaa Kebroonii dur, «kiriyyat-Arbaa» jedhama; «Arbaa» ka jedhamu kun worra Aanaaqotaa keessaa nama guddaa ture.

Achiin duuba latti nageya dhaggatte.

15

Lafa Gosa Yihuda'aatiif Kennante

¹ Gosa Yihuda'aatiif akka maatii maatii isaaniititti latti haga lafa meessaa Edoomii, gara goomolee Ziiniitiin haga dhuma meessaa kibbaa jirtu kennanteef.

² Meessaan Yihuda'aa ka kibbaa dhuma kibba Abbaayaa Sooddaa irraa jalqabee,

³ Qiiqqee makkaatiin gara Ziiniititti dabaree, Qaadesh-Barne'aa irraa gara kibbaatitti deemee, Hezronitti dabaree haga Hadarii geyee, gara Qarqa'aa deebi'a.

⁴ Gara Azmoonille dabaree haga laga Gibxi'ii deemee, Abbaayaa Mediteraaniya'aa geyee dhaabbata. Meessaan gosa Yihuda'aa gara kibbaatiin kana.

⁵ Karaa aduun baatuun meessaan lafa isaanii dhuma Abbaayaa Sooddaa irraa ka'ee, haga dhuma laga Yordaanosii ti.

Meessaan gara kaabaa, hullufa Abbaaya'aa dhuma laga Yordaanosii irraa jalqabee,

⁶ gara Bet-Hoglaa ol dhaqee kaaba Bet-Arabaa irra bayee, haga dhakaa Bohanii ilma Ruubenii deema.

⁷ Akkasuma dhooqa Akorii irraa haga Deebirii dhaqee, karaa kaabaatiin gara Giilgalii kibba fuullee Adumiimii dhooqa Akorii irraa gara kibbaa dhaggantutti deebi'a. Ittille dabalee laga En-Shemeshii irra bayee laga En-Rogeliititti dhaabbata.

⁸ Achiin duuba meessaan kun dhooqa ilma Hiinomii keessa bayee gara goodda kibbaatiin, qachaa Yibusootaa Yerusaalemiin baya; achii ka'ee kooba Hiinomii irraa gara aduun baatuu gubbaa bayee, haga dhuma kaaba dhooqa Refaamii ti.

⁹ Kanaan duuba gubbaa koobaa irraa gara laga Nefto'aa, achi irraa gara qachoota gaara Eferonii bira dhufee gara Baalaa ka Kiriiyat-Ya'ariim jedhamuutitti deebi'a.

¹⁰ Baalaa irraa gara aduun seentuun gara kooba Se'iirii marfata; gara kaabaatiin goodda gaara Ya'ariimii ka Kesaalon jedhamu irraa gara Bet-shemeshii dhaqee Tiimna'atti dabara.

¹¹ Gara kaabaatille'een gara goodda Eqroonii dhaqee gara Shiqeroonii deebi'ee, gara gaara Baalaa dabaree Yaabnel dhaqee, Abbaayaa Mediteraaniya'aatitti dhaabbata.

¹² Meessaan gara aduun seentuu irga Abbaayaa Mediteraaniya'aa ti.

Kolbaan Yihuda'aa akka maatii maatii isi'iititti meessaa kana keessa leete.

Kaaleb Kebroonii fi Deebir Qabate (Abo. 1:11-15)

¹³ Akkuma Waaqi ajaje Iyaasuun, lafa kolbaa Yihuda'aa keessaa kiriiyat-Arbaa ta «Kebroon» jedhantu, Kaalebii ilma Yofune'eetiif kenne. Arbaan abbaa Aanaaqotaa ti.

¹⁴ Kaaleb sanyii Aanaaqota sad Sheshaay, Ahimaanii fi Talmaayin Kebroon keessaa ari'e.

¹⁵ Achii ka'ee worra Deebir* keessa le'u loliisaaf dhaqe.

¹⁶ Kaaleb, «Nama qachaa Seferii lolee qabatuuf intala tiyya ta «Aksaa» jedhantu isa hin heerumsiisa» jedhe.

¹⁷ Otnii'el ilmi Qenazii obboleessi Kaalebii qachaa san lolee qabate; Kaalebille intala ifii Aksaa isa heerumsiise.

* 15:15 Deebir: Dur Kiriiyat-Sefer jedhama.

¹⁸ Otnii'el gaafa fuudhaa fi heeruma isaanii akka isiin abbaa ifii irraa fichaa gaafattu itti gorse.[†] Yennaa isiin harree irraa baatee Kaaleb, «Maan feeta?» jedhee isii gaafate.

¹⁹ Isiin deebittee, «Latti ati naaf kennite biyya gammoojji'ii keessa waan teeteef, baleessa bisaaniille akka naaf kennitu barbaada» jette. Maarre Kaaleb baleessa bisaanii ka oliitii fi ka gadii kenneef.

Qachoota Yihuda'aa

²⁰ Latti gosi Yihuda'aa akka maatii maatii isaaniititti fudhatane ta asii gad jirtu.

²¹ Qachooti gosa Yihuda'aa gara kibbaatiin dhuma meessaa Edoomiititti aananee jiranu, Kabze'el, Eder, Yaagur,

²² Qiinaa, Diimona, Araadaa,

²³ Qedeesh, Hazoor, Iitnaan,

²⁴ Ziif, Telem, Ba'aalot,

²⁵ Hazoor-Hadootaa, Keriyot-hezron kun «Hazoor» jechu'u;

²⁶ Amaam, Shemaa, Molaadaa,

²⁷ Hazaar-Gadaa, Heshimon, Bet-phaalex,

²⁸ Hazaar-shu'aal, Bersheebaa, Biziyutiiyaa,

²⁹ Ba'aalaa, Eyim, Azem,

³⁰ Eltolaad, Kesil, Hormaa,

³¹ Siiqlaag, Madmaanaa, Sansanaa,

³² Lebaa'ot, Shilhim, En-Rimoon; wolumatti qachoota gugurdaa diddamii sagalii fi qachoota adaala san jiru wolitti qabata.

³³ Qachooti gugurdaan kooba jalaa Eshtaa'ol, Zoraa, Ashnaa,

³⁴ Zaano'aa, En-Gaaniim, Taafu'aa, Enaam,

³⁵ Yarmuut, Adulaam, Sokoo, Aazeqaa,

³⁶ Sha'araayim, Adiitaayim, Gederana, Gederotaayim, wolumatti qachoota gugurdaa kudhanii afurii fi qachoota adaala san jiru wolitti qabata.

³⁷ Akkasuma Zenaan, Hadashaa, Migdaal-Gaadi,

³⁸ Dil'aan, Miisphaa, Yaaktii'el,

³⁹ Laakiishi, Bozqaat, Eglood,

⁴⁰ Kaabon, Lamaas, Kiitliishi,

⁴¹ Gederot, Bet-Daagon, Na'aamaa fi Maakedaa, wolumatti qachoota gugurdaa kudha jaa fi qachoota adaala san jiru wolitti qabata.

⁴² Akkasuma Liibnaa, Eter, Ashaan,

⁴³ Yiftaa, Ashnaa, Neziib,

⁴⁴ Qeyilaa, Akziibii fi Mareshaa, wolumatti qachoota gugurdaa sagalii fi qachoota adaala san jiru wolitti qabata.

⁴⁵ Eqroon, qachootaa fi olloota ifii woliin;

⁴⁶ Qachoota Ashoodi biraa duudii, ka Eqroon irraa haga Abbaayaa Medit-eraanii'aa jiranu, qachoota gugurda'aa fi olloota adaala isaanii woliin;

⁴⁷ Ashidoodii fi Gaazaa, qachootaa fi olloota isaanii woliin haga meessaa laga Gibxi'iitii fi irga Abbaayaa Mediteraanii'aa.

⁴⁸ Biyya koobittii keessa Shaamiir, Yaatiir, Sokoo,

⁴⁹ Daanaa, Kiriyat-Sanaa ka «Deebir» jedhamu,

⁵⁰ Anaab, Eshtemo'aa, Aniim,

⁵¹ Gooshen, Holoonii fi Giloo, qachoota kudha tokkoo fi qachoota adaala sanii wolitti qabata.

⁵² Araba, Dumaa, Esh'an,

[†] **15:18** Itti gorse: Kitaaba abbootii mura'aa 1:14 keessatti Barreeffam Hibru'uu isiin isa gorsite jedha.

- ⁵³ Yaanum, Bet-taafu'aa, Afeqaa,
⁵⁴ Humtaa, Kiriiyaat-araba ta Hebroon jedhantu, Zi'or qachoota gugurdaa kudhanii fi qachoota adaala san jiru wolitti qabata.
⁵⁵ Maa'on, Qarmelos, Ziif, Yutaa,
⁵⁶ Yizre'el, Yarke'am, Zaano'aa,
⁵⁷ Qaayin, Giibe'aa fi Tiimnaa, qachoota gugurdaa kudhanii fi qachoota adaala san jiru wolitti qabata.
⁵⁸ Halhul, Bet-Zuur, Gedoor,
⁵⁹ Maaraat, Bet-Anoot, Elteqon, qachoota gugurdaa jaa fi qachoota adaala san jiru wolitti qabata.
⁶⁰ Kiriiyaa-Ba'aal ka «Kiriiyat-Ya'ariim» jedhamu, Raabaa, qachoota gugurdaa lamaa fi qachoota adaala san jiru wolitti qabata.
⁶¹ Goomolee keessa ammoo Bet-Arabaa, Mediin, Sekaakaa,
⁶² Nibishaan, qachoota gugurdaa sooddaa fi En-Gedii, qachoota gugurdaa jaa fi qachoota adaala san jiru wolitti qabata.
⁶³ Kolbaan Yihuda'aa ammoo Yibusoota Yerusaalem keessa le'anuu ari'uu hin dandeenne. Worri Yibusootaa haga ammaa Yerusaalem keessa jiran.

16

Lafa Gosa Efreemiitii Fi Minaase'eetiif Kennante

- ¹ Meessaan lafa sanyii Yoseefiitiif kenname gara kibbaatiin laga Yordaanosii cinaa Yeriko'oo, madda Yeriko'oo ka gara aduun baatuutii ka'ee, gara goomole'ee dhagee haga lafa koobittii Bet'eliititti deema.
² Bet'elii ka'ee gara Luzii dhagee, addee Arkaawoti le'anuu Ataaroot-Adaaritti dabara.
³ Achiin duuba gara aduun seentuun lafa Yaaflexootaattitti goree, cinaa Bet-horoonii jalaatiin dabaree, gara Gezerii dabaree Abbaayaa Mediteraaniya'aatitti dhaabbata.
⁴ Sanyiin Yoseefii, gosi Efreemiitii fi Minaase'ee lafa ifii fudhatane.
⁵ Latti gosi Efreemii akka maatii maatii isaaniititti fudhatane tana: meessaan isaanii gara aduun baatu Ataarot-Adaar irraa haga Bet-Horoonii gaara irraa deemee,
⁶ haga Abbaayaa Mediteraaniya'aa ti. Gara kaabaatiin meessaan isaanii Mikmaata'a. Achille'ee gara aduun baatuun Taanaat-Shiilo'otti deebi'ee, gara aduun baatu Yaano'atti dabara.
⁷ Achiin duuba Yaano'aa irraa gara Ataarotii fi Na'aaratitti gad deemee, Yerikoo geyee Yordaanositti dhaabbata.
⁸ Taafu'aa irraa ka'ee gara aduun seentuun laga Qaanaa dhagee, Abbaayaa Mediteraaniya'aatitti dhaabbata. Latti gosa Efreemiitiif akka maatii maatii isaaniititti kennante tana.
⁹ Tunille qachootaa fi olloota lafa gosa Minaase'ee keessaa, ta gosa Efreemiitiif kennante dabalatti.
¹⁰ Worri Efreemotaa ammoo worra Kana'aanotaa ka Gezer keessa le'anuu achii ari'iisa hin dandeenne; tanaaf worri Kana'aanotaa haga adhaalle odduu isaanii le'aa akka garbootaa akka isaaniif hujanu hunnaan tolfamane.

17

Lafa Gosa Minaase'ee Gamisaaf Kennante

- ¹ Gosi Minaasee ilma Yoseefiif angafichaa, sanyiin Maakiirii ilma angaficha Minaasee abbaa Giil'aadotaa, lolaan jajjaboo waan te'aneef, latti Giil'aadiitii fi Baashaanii isaaniif kennante.

² Latti gara aduun seentuu maatii Minaase'ee worra hafeef, Abii'ezer, Helek, Asrii'el, Sheekem, Heferii fi Shemeda'aa kennante. Isaan kun sooreyyii maatii ilmaan sanyii Minaasee ilma Yoseefii ti.

³ Zelofehaad ilma Heferii ti; Hefer ilma Giil'aadii ti; Giil'aad ilma Maakiirii ti; Maakiir ilma Minaase'ee ti. Zelofehaad durra malee, ilmaan hin qabu. Maqaan isaaniille Maahilaa, No'aa, Hoglaa, Miilka'aa fi Tiirza'a.

⁴ Isaan gara hayyicha Ele'azaarii, Iyaasuu ilma Nuniitii fi sooreyyii'ii dhaqanee, «Muuseen akka obboleeyyan teenna ta firaatitti, lafa akka nuuf kennu Waaqi isa ajajeera» jedhane. Tanaaf akka Waaqi ajajetti isaan obboleeyyan firaa woliin lafa fudhatane.

⁵ Sababi Minaaseen lafa Baashaaniitii fi Giil'aadii ta laga Yordaanos irraa gara aduun baatu jirtutti dabalatee gooda kudhan fudhateef,

⁶ dubartooti sanyii isaa akkuma sanyii ilmaan dhiiraa lafa waan fudhatteef, latti Giil'aadii sanyii Minaase'eetiif kennante.

⁷ Latti Minaase'ee Asheerii kaatee, haga Mikmaataatii ta Sheekem irraa gara aduun baatuu ti. Achiin duuba meessaan gara kibbaa deemee kolbaa En-Taafu'aa keessa leetu dabalata.

⁸ Latti adaala Taafu'aa ta Minaase'ee teetee, qachaan Taafu'aa ka meessaa irra jiru ammoo ka sanyii Efreemii te'e.

⁹ Achiin duuba meessaan haga laga Qaana'aa gad bu'a. Qachooti laga san irraa gara kibbaatitti dhaggamanu, biyya Minaase'ee keessa te'ulle ka Efreemii ti. Meessaan Minaase'ee gara kaaba lagaa dhaqee Abbaayaa Gudditti'itti dhaabbata.

¹⁰ Meessaan isaanii gara aduun seentuun abbaayaa Mediteraaniya'aa te'ee, latti gara kibbaa ta Efreemii, ta gara kaabaa ta Minaase'ee ti. Meessaan gara kaabaa lafa Asheerititti dhaabbata; gara aduun baatuun lafa Yisaakoriititti dhaabbata.

¹¹ Biyyi Yisaakorii fi Asheer keessaa Bet-Shaanii fi ollooti isi'ii, Yible'aamii fi ollooti isi'ii, kolbaan qachaa Doorii* fi ollooti isi'ii, kolbaan qachaa Endooriitii fi ollooti isi'ii, kolbaan qachaa Ta'anaatii fi ollooti isi'ii, kolbaan qachaa Megidootii fi ollooti isi'ii duudiin ka Minaase'ee te'ane.

¹² Teetuu malee kolbaan Minaase'ee qachoota san qabatuu hin dandeenne; tanaaf worri Kana'aanotaa achuma keessa le'ane.

¹³ Israa'elooti jajjaboo te'anulle, Kana'aanoti akka hunnaan isaaniif hujanu godhane malee, ijjumaa lafa sanii isaan hin ariine.

Sanyiin Yoseefii Lafa Dabalataa Gaafatte

¹⁴ Sanyiin Yoseefii, Iyaasu'uun, «Waaqi waan nu eebbiseef, nuuti heddu'u; ati maaf gooda tokko callaa nuuf kennite?» jedhane.

¹⁵ Iyaasuun deebisee, «Isin hedduu eega teetane, biyyi koobittiin Efreemii yoo isinitti dhiphatte, gara lafa Pheriizotaatii fi Refaa'otaa dhaqa'aatii gongomaa anadha'a» jedheen.

¹⁶ Isaan deebisane, «Latti koobittiin sun nu hin geettu; Kana'aanoti lafa dirree irra le'anuu fi worri Bet-Shaanii fi ollooti adaala sanii ka dhooqa Yizre'elii keessa le'anuu ammoo garreettaa sibiilaa† ka fardo'oon harkifamu qaban» jedhane.

¹⁷ Iyaasuun gosa Efreemiitii fi gosa Minaase'ee ka gara aduun seentu jiranuun, «Isin dhugumaan heddu'u; guddoo jajjaboole'e. Qoodi tokko callaan isin hin gewu.

* **17:11** Qachaa Doorii: Yookiin Naafoti Door jedhama. † **17:16** Garreettaa sibiilaa: Worri sun bara san garreettaa kana lolaaf itti fayyadaman.

¹⁸ Tanaaf biyyi koobittiin teessan hin teeti. Koobi sun gongomaa teetulle anadha'aatii, qacce'ee jalqabaatii haga qaccee dhumaatitti lafa teessan god-hadha'a. Worri Kana'aanotaa garreettaa sibiilaa ka fardo'oon harkifamu qabaatee, jajjaboo te'ulle isin isaan hin ariitan» jedhe.

18

Qoodama Lafa Hattee

¹ Israa'elooti injifatane lafa qabataneen duuba, wolde'i gumii Israa'elii duudiin Shiilo'otti wolitti qabamee, dunkaana itti Waaqa wolde'anu dhaabane.

² Kolbaa Israa'elii keessaa gosi torba haga ammaalle qooda lafa ifii ka hin dhaggatin jiraniyyu.

³ Maarre Iyaasuun kolbaa Israa'eliitiin, «Lafa Gootaan Waaqi abbootii teessanii isiniif kenne seentanee qabatiisaaf haga yoomii eeddan?

⁴ Gosa duudii keessaa nama sad sad naa fila'a. Isaan dhaqanee biyya keessa deddeebi'anee, lafa gosi isaanii qoodamu'uu malte ilaalanee akka gara kiyya deebi'anu hin erga.

⁵ Isaan lafa san addee torbatti qoodan. Worri Yihuda'aa lafa ifii ta kibbaa keessa, worri Yoseefille lafa ifii ta kaabaa keessa le'an.

⁶ Latti torba sun maan akka fakkaattu barreessa'aatii naa fida'a. Ani Gootaa Waaqa keenna duratti hixaa isiniif buusa.

⁷ Te'uu malee worri Lewwi'ii qoodi isaanii hayyoota te'anee Waaqa ta-jaajiliisa waan te'eef, isin keessaa isaan qooda lafaa hin dhaggatanu. Gosi Gaadii, Ruubenii fi gamisi gosa Minaase'ee, lafa ifii ta Muuseen tajaajilaan Waaqaa isaaniif kenne ta laga Yordaanos irraa gara aduun baatuu duruu fudhataneeran» jedhe.

⁸ Namooti lafa qorqoriisaaf adoo hin deeminiin dura, Iyaasuun, «Gara lafa duudi'ii dhaqa'aa ilaala'aatii, maan akka fakkaattu barreessa'aatii gara kiyya deebi'a'a. Anille Waaqa duratti as Shiilo'otti hixaa isiniif buusee hin qooda» jedhe.

⁹ Maarre namooti lafa duudii dhaqanee, qachoota galmeessanee lafa addee torbatti attam akka qoodane barreeffamaan keyane. Achiin duuba quttuma Shiilo'ootitti gara Iyaasu'uu deebi'ane.

¹⁰ Iyaasuun Waaqa duratti hixaa isaaniif buuse. Worra Israa'elii ka hafanelle'eef akka gosa gosa isaaniititti lafa qoode.

Lafa Gosa Beniyaaminiitiif Kennante

¹¹ Hixaan duraa akka maatii maatii isaaniititti gosa Beniyaaminiif bu'e; latti isaanii wodhakkaa gosa Yihuda'aatii fi Yoseefii ti.

¹² Gara kaabaatiin meessaan isaanii laga Yordaanosiitii ka'ee, gara goodda kaaba Yeriko'oo ol bayee, karaa aduun seentu biyya koobitti'in haga goomolee Bet-Aweenii ti.

¹³ Achii ka'ee gara goodda kibba Luzii ka «Bet'el» jedhamu dhaqee, gaara kibba Bet-horoonii jalaa irra bayee, gara Ataarot-adaariititti gad bu'a.

¹⁴ Achiin duuba karaa dhibi'in gaaruma kana gara aduun seentuun gara kibbaa deebi'ee, gara qachaa gosa Yihuda'aa Kiriiyat-Ba'aaliik ka Kiriiyat-Ya'ariim jedhamuu deema. Meessaan gara aduun seentuu kana.

¹⁵ Meessaan gara kibbaa irga Kiriiyat-Ya'ariimii irraa jalqabee karaa aduun seentu gara madda Nefto'aatitti deema.

¹⁶ Meessaan sun gara gaara jalaa ka fuullee dhooqa Ben-henoomii irga dhooqa dhuma kaaba Refaa'otaatitti gad bu'a. Achii ka'ee gara qachaa

dhooqa Hiinomii gad bu'ee, gara kibba goodda qachaa Yibusootaa dhagee, gara En-Rogeelii deema.

¹⁷ Achiin duuba kaabatti deebi'ee karaa En-Shemeshiitiin, Geliilotii fuullee Abdumiimii irra bayee, gara dhakaa Bohanii ilma Ruubeniititti gad bu'a.

¹⁸ Gara kaabaatiin goodda dhuma fuullee dhooqa laga Yordaanosiititti gad bu'ee,

¹⁹ gara kaabaatiin dhuma Bet-Hoglaa irra bayee, addee lagi Yordaanosii itti dhumatu kaaba hullufa Abbaayaa Sooddaatitti dhaabbata. Meessaan kibbaa kana.

²⁰ Meessaan gara aduun baatuu laga Yordaanosii ti. Meessaan maatiin gosa Beniyaaminii akka lafa ifititti fudhatte kana.

²¹ Qachooti maatiin gosa Beniyaamii fudhatte Yerikoo, Bet-Hoglaa, Emek-Keziiz,

²² Bet-Arabaa, Zemaaraayim, Bet'el

²³ Awiim, Faaraa, Ofraa,

²⁴ Kefaar-Amoonii, Ofnii fi Geba'a: qachoota gugurdaa kudha lamaa fi qachoota adaala isaanii ti.

²⁵ Akkasuma Giibe'on, Raamaa, Be'erot

²⁶ Miisphaa, Kefiraa, Mozaa,

²⁷ Regem, Irphii'el, Taraalaa,

²⁸ Zelaa, Eeleef, qachaa worra Yibusootaa*, Giibe'aa fi Kiriiyat-Ya'ariim: qachooti gugurdaa kudha afurii fi qachooti adaala sanii ka maatii gosa Beniyaamii akka lafa ifititti fudhatte kana.

19

Lafa Gosa Shimi'ooniitiif Kennante

¹ Hixaan lammeesso'oo akka maatii maatii isaaniititti gosa Shimi'ooniitiif bu'e. Latti isaanii haga lafa gosa Yihuda'aatiif kennantee gara keessaa seenteerti.

² Tunille Bersheebaa, Shemaa, Molaadaa,

³ Hazaar-Shu'aal, Baalaa, Azem,

⁴ Eltolaad, Bet-Hul, Hormaa,

⁵ Siiqlaag, Bet-Markaboot, Hazaar-Susaa,

⁶ Bet-Labaa'otii fi Shiruheen: qachoota gugurdaa kudha sadii fi qachoota adaala sanii ti.

⁷ Ammalle Aayin, Rimoon, Taakaan, Eter fi Ashaan: qachoota gugurdaa afurii fi qachoota adaala sanii ti.

⁸ Kun qachoota adaala qachoota gugurdaa kanaa ka Ba'alaat-Be'erii irraa gara kibbaa jiru mara dabalata. Latti gosi Shimi'oonii akka maatii maatii isaaniititti fudhatane tana.

⁹ Latti gosa Yihuda'aatiif kennante haga isaaniif barbaachittu caalaa waan badhatteef, lafa isaanii irraa gosa Shimi'ooniitiif kennante.

Lafa Gosa Zebulooniitiif Kennante

¹⁰ Hixaan sadeesso'oo akka maatii maatii isaaniititti gosa Zebulooniitiif bu'e. Latti isaan fudhatane haga Saariidititti deenti.

¹¹ Meessaan isaanii karaa aduun seentuu gara Maaraalaa dhagee, Dabesheetii fi laga Yaakne'aamii gara aduun baatuu tuqa.

¹² Karaa dhibi'iin Saariid irraa gara aduun baatuu deebi'ee, haga meessaa Kislot-Taaborititti deemee, haga Daabera'aatii fi Yaafii'aa dhaqa.

* **18:28** Qachaa worra Yibusootaa: Kun qachaa Yerusaalemii ti.

¹³ Achille'ee karaa aduun baatutti gara Gaat-Heferii fi Iit-Kaaziinii deemee, gara Rimoonaa'aa dhaqee Ne'aahititti deebi'a.

¹⁴ Gara kaabaatiin Hanaatonitti deebi'ee, dhooqa Yiftaa-Elitti dhaabbata.

¹⁵ Kunille Kataat, Naahaalal, Shimroon, Yiiraalaa fi Betlihem: qachoota gugurdaa kudha lamaa fi qachoota adaala san jiru dabalata.

¹⁶ Qachoota gugurda'aa fi qachooti kun lafa gosi Zebuloonii akka maatii maatii isaaniititti fudhatane keessa jiran.

Lafa Gosa Yisaakoriitiif Kennante

¹⁷ Hixaan arfeesso'oo akka maatii maatii isaaniititti gosa Yisaakoriitiif bu'e.

¹⁸ Latti isaanii Yizre'el, Kesuloot, Shuneem,

¹⁹ Haafara'iim, Shi'on, Anaharaati,

²⁰ Rabit, Qiishon, Ebez,

²¹ Remet, En-Gaaniim, En-Hadiidii fi Bet-Phaazez.

²² Meessaan kun ammalle Taabor, Shaziima'aa fi Bet-shemeshi tuqee, laga Yordaanosiititti dhaabbata. Kunille qachoota gugurdaa kudha jaa fi qachoota adaala sanii dabalata.

²³ Qachooti gugurda'aa fi qachooti kun lafa gosi Yisaakorii akka maatii maatii isaaniititti fudhatane keessa jiran.

Lafa Gosa Asheeriitiif Kennante

²⁴ Hixaan shaneesso'oo akka maatii maatii isaaniititti gosa Asheeriitiif bu'e.

²⁵ Latti isaanii Helqaat, Haalii, Beteen, Akshaaf,

²⁶ Alaamelek, Amaadii fi Miishaal; karaa aduun seentuun Qarmelii fi Shiihor-Liibnaat tuqa.

²⁷ Achii ka'ee karaa aduun baatu deebi'ee gara Bet-daagonii dhaqee, karaa kaaba Bet-emekiitii fi Nii'eliitiin Zebuloonii fi dhooqa Yiftaa-Elitti tuqa. Achii ka'ee gara kaaba Kaabulii,

²⁸ Abdoonii, Rehoobii, Haamonii fi Qaana'aa dhaqee haga Sidoonaa gudditti'ii deema.

²⁹ Achiin duuba meessaan gara Raama'aa deebi'ee haga qachaa Xiirsoosii ka dalleya dhaka'aa qabuu ti; achille'ee gara Hosaahii deebi'ee Abbaayaa Mediteraaniya'aatitti dhaabbata. Kunille Maahilaa, Akziib,

³⁰ Umaa, Afeqii fi Rehoob: qachoota gugurdaa diddamii lamaa fi qachoota adaala sanii dabalata.

³¹ Qachooti gugurda'aa fi qachooti kun lafa gosi Asheerii akka maatii maatii isaanitti fudhatane keessa jiran.

Lafa Gosa Niftaalemiitiif Kennante

³² Hixaan jayeesso'oo akka maatii maatii isaaniititti gosa Niftaalemiitiif bu'e.

³³ Meessaan isaanii Helefi ka'ee haga qilxaa Zaa'anaaniim jiruu deemee, Adaamii-Neqebnii fi Yaabnii'el irra bayee haga Laquumii geyee laga Yordaanosiititti dhaabbata.

³⁴ Achiin duuba gara aduun seentuun Aaznot-taaboriitti deebi'ee, gara Hoqonii deemee, gara kibbaatiin Zebuloon, gara aduun seentuun Asheer, gara aduun baatuun laga Yordaanosii tuqa.

³⁵ Qachooti gugurdaan dalleya dhaka'aa qabanu Ziidiim, Zer, Haamaat, Raaqaat, Keneret,

³⁶ Aadaamaa, Raamaa, Hazoor,

³⁷ Qedeesh, Edraayi, En-Hazoor,

³⁸ Yiroon, Migdaal-El, Horeem, Bet-anaatii fi Bet-shemeshi: qachoota gugurdaa kudhanii sagalii fi qachoota adaala sanii ti.

³⁹ Qachooti gugurda'aa fi qachooti kun lafa gosi Niftaalemii akka maatii maatii isaaniititti fudhatane keessa jiran.

Lafa Gosa Daaniitiif Kennante

⁴⁰ Hixaan torbeesso'oo akka maatii maatii isaaniititti gosa Daaniitiif bu'e.

⁴¹ Latti isaanii Zoraa, Eshtaa'ol, Iir-Shemesh,

⁴² Sha'aalbiim, Ayalon, Iitlaa,

⁴³ Eloon, Tiimnaa, Egroon,

⁴⁴ Elteqee, Giibetoon, Ba'aalaati,

⁴⁵ Yehud, Azor Bene-Beraaq, Gaat-Rimoon,

⁴⁶ Miiyaarqon, Raaqonii fi lafa fuullee Yophe'ee ti.

⁴⁷ Kolbaa Daanii irraa latti yennaa fudhatante, gara biyya Laashemii dhaqanee lolanee, worra achi keessa le'u fixanee qachaa san qabatanee, ka ifii godhatane. Isaan achi qubatanee maqaa qachaa Laashemii jijjiiranee maqaa Abbaa ifii duriitiin, «Daan» jedhanee moggaasane.

⁴⁸ Qachooti gugurda'aa fi qachooti kun lafa gosi Daanii akka maatii maatii isaaniititti fudhatane keessa jiran.

Lafa Dhuma Irratti Iyaasu'uuf Kennante

⁴⁹ Kolbaan Israa'elii lafa qoodanee yennaa fixane, Iyaasuu ilma Nuniiti-ifille lafa kennane

⁵⁰ Akkuma Waaqi ajajetti qachaa Tiimnat-Seraa ka biyya koobittii Efreemii keessa ka Iyaasuun fudhatiisaaf gaafate, kennaneef. Inni achitti qachaa guddicha deebisee ijaaree itti qubate.

⁵¹ Hayyichi Ele'azaar, Iyaasuun ilmi Nuniitii fi sooreyyiin maatii gosa kolbaa Israa'elii Shiilo'otti fuula Waaqaatii fi Dunkaanii Woldeenna'aa duratti lafa tana hixaa buusanee qoodane. Isaan akka kanaan lafa qoodanee fixane.

20

Qachoota Itti Baqatanu

(Lak. 35:9-34)

¹ Achiin duuba Waaqi Iyaasu'uun,

² «Kolbaa Israa'eliitiin, «Ani akkuma karaa Muuse'eetiin isin ajajetti qachaa itti baqatanu fila'a.

³ Nami tokko adoo hin beekin danu'uun nama yoo ijjeese, nama haluu bayiisaaf isa barbaadu jalaa achi baqata.

⁴ Inni qachoota san keessaa gara tokkootitti yennaa baqatu, seensuma karra qachaa sanii dura dhaabbatee haajaa ifii jaarsolee qachaa saniititti himata. Achiin duuba akka inni qachaa san seenu eeyyamanee, addee inni le'u kennan; maarre inni achi keessa le'a.

⁵ Nami isa haluu bayiisaaf barbaadu sun yoo hordofe, nami nama ijjeese sun adoo hin beekin danu'uun waan ijjeeseef, worri qachaa sanii nama haluu isa bayiisaaf barbaadutti dabarsee kennuu hin qabu.

⁶ Nami nama ijjeese sun mura'aaf kolbaa duratti haga dhikaatuu fi hayyichi guddaan bara sanii haga du'utti qachaa san keessa turuu ti. Achiin duuba gara qachaa keessaa baqatee deebi'ee mana ifititti galuu ti» jedhi» jedhe.

⁷ Maarre Israa'elooti Qedeeshii Galiilaa keessaa, biyya koobittii Niftaalem keessaa, Sheekemii biyya koobittii Efreemii keessaa, kiriiyat-Arbaa ta amma Hebroon jedhantu ta biyya koobittii Yihuda'aa keessaa filane.

⁸ Laga Yordaanosii irraa gara aduun baatuun, Bezerii fuullee Yeriko'oo lafa gooroo goomolee biyya gosa Ruuben keessaa, Raamoot ta Giil'aadii biyya Minaase'ee keessaa, Golaan ta Baashaanii biyya Minaasee keessaalle filane.

⁹ Kolbaa Israa'eliitii fi orma odduu isaanii le'u maraaf qachaan akka itti baqatanuuf filame kana. Eennulle adoo hin beekin danu'uun nama yoo ijjeese, nama haluu isa bayiisaaf barbaadu jalaa achi baqata; eennulle adoo kolbaa duratti qara itti hin muramin hin ijjeefamu.

21

Qachoota Lewwootaaf Kenname

¹ Sooreyyiin maatii Lewwootaa gara hayyicha Ele'azaarii, gara Iyaasuu ilma Nuniitii fi gara sooreyyii maatii kolbaa Israa'elii duudi'ii dhaqane.

² Kana'aan keessa qachaa Shiilo'ootitti isaaniin, «Qachooti keessa leenuu fi adaala sanitti lafa horii keenna itti tiffannulle akka nu'uuf kennamanu Waaqi karaa Muuse'eetiin ajajeera» jedhane.

³ Tanaaf kolbaan Israa'elii akkuma Waaqi ajajetti gosa Lewwi'iitiif qachootaa fi lafa horii itti tiffatanu lafa ifii keessaa kennaneef.

⁴ Hixaan matoomaa maatii Qehaatotaatiif bu'e. Gosa Lewwi'ii keessaa sanyii hayyicha Aaroniitiif qachoota kudhanii sad lafa gosa Yihuda'aa, gosa Shimi'ooniitii fi gosa Beniyaamii keessaa kennameef.

⁵ Fira Qehaatotaa worra hafeef qachoota lafa gosa Efreemii keessaa, gosa Daanii keessaa, gamisa gosa Minaase'ee gara aduun seentuu keessalle'ee qachooti kudhan kennameef.

⁶ Fira Gerishoniitiif lafa biyya Yisaakor, Aheer, Niftaalemii fi gamisa gosa Minaase'ee ta Baashaan keessaatiif qachooti kudha sad kennameef.

⁷ Fira Meraariitiif akka maatii maatii isaaniititti lafa Ruubenii, Gaadiitiif fi Zebulonii keessaa qachooti kudhanii lama kennameef.

⁸ Kolbaan Israa'elii akkuma Waaqi karaa Muuse'eetiin isaan ajajetti, hixaa buusane qachoota kanaa fi lafa isaan horii itti tiffatanu gosa Lewwi'iitiif kennane.

⁹ Lafa gosa Yihuda'aatii fi Shimi'oon keessaa qachoota maqaan isaanii asii gad jiru kennaneef.

¹⁰ Hixaan matoomaa sanyii Aaronii fira Qehaatotaa, gosa Lewwi'iitiif waan bu'eef isaanii kenname.

¹¹ Qachaa biyya koobittii kiriiyat-Arbaa* ka «Kebroon» jedhamu, lafa tikaa ta adaala san jirtu waliin kennaneef.

¹² Teetuu malee fичaan qachoota gugurda'aatii fi qachoota adaala sanii Kaalebii ilma Yofune'eetiif akka lafa isaatiitti kennamaneef.

¹³ Sanyii hayyicha Aaroniitiif, qachaa nami nama ijjeese itti baqatu keessa tokko ka te'e Kebroonitti dabalane, Liibnaa lafa horii itti tiffatanu waliin,

¹⁴ Yaatiir lafa horii itti tiffatanu waliin, Eshtemo'aa lafa horii itti tiffatanu waliin,

¹⁵ Holoon lafa horii itti tiffatanu waliin, Deebirin lafa horii itti tiffatanu waliin,

¹⁶ Ay'eeniin lafa horii itti tiffatanu waliin, Yutaahaa fi Bet-Shemeshin lafa horii itti tiffatanu waliin: gosa Yihuda'aatii fi Simoonii keessaa qachoota gugurdaa sagal kennane.

¹⁷ Lafa Beniyaamii keessaa qachoota gugurdaa afur: Giibe'on lafa horii itti tiffatanu waliin, Gebaasin lafa horii itti tiffatanu waliin,

¹⁸ Anaatoti lafa horii itti tiffatanu waliin, Almoonin lafa horii itti tiffatanu waliin kennane.

* **21:11 Arabaa:** Arabaan kun abbaa Aanaaqotaa ti.

¹⁹ Wolumatti qachooti gugurdaan kudhanii sad lafa horii itti tiffatanu woliin hayyicha Aaroniif kennamane.

²⁰ Maatii gosa Lewwootaa fira Qehaatotaa worra hafeef, qachooti gugurdaan gariin lafa Efreemii keessaa kennameef.

²¹ Qachooti gugurdaan afur: qachaa nami nama ijjeese itti baqatu Sheekemii fi lafa horii itti tiffatanu biyya koobittii Efreemii keessaa, Gezer lafa horii itti tiffatanu woliin,

²² Kibzaayimii fi Bet-Horoonin lafa horii itti woliin kennane.

²³ Lafa Daanii keessaa qachoota gugurdaa afur: Elteqee lafa horii itti tiffatanu woliin, Giibetoon lafa horii itti tiffatanu woliin,

²⁴ Ayalon lafa horii itti tiffatanu woliin, Gaat-Rimoon lafa horii itti tiffatanu woliin kennane.

²⁵ Lafa Minaase'ee ta gara aduun seentuu keessaa qachoota gugurdaa lama: Ta'anaa fi Gaat-Rimoon lafa horii itti tiffatanu woliin kennane.

²⁶ Maatiin fira Qehaatotaa worri hafe kun, wolumatti qachoota gugurdaa kudhan lafa horii itti tiffatanu woliin fudhatane.

²⁷ Goliin gosa Lewwootaa firri Gershoonii dhibiin, lafa Minaase'ee ta gara aduun baatuu keessaa qachoota gugurdaa lama: Golaanii Baashaan keessaa qachaa itti baqatanu keessaa tokko ka te'ee fi Ashitaaroti lafa horii itti tiffatanu woliin fudhatane.

²⁸ Lafa Yisaakorii keessaa qachoota gugurdaa afur: Qeshoon lafa horii itti tiffatanu woliin, Daaberaatin lafa horii itti tiffatanu woliin,

²⁹ Yarmuut lafa horii itti tiffatanu woliin, En-Gaaniim lafa horii itti tiffatanu woliin fudhatane.

³⁰ Lafa Asheerii keessaa qachoota gugurdaa afur: Mishaalin lafa horii itti tiffatanu woliin, Abdoon lafa horii itti tiffatanu woliin,

³¹ Helqaatii lafa horii itti tiffatanu woliin, Rehoob lafa horii itti tiffatanu woliin fudhatane.

³² Lafa Niftaalemii keessaa qachoota gugurdaa sad: Qedeeshii Galiilaa keessaa qachaa itti baqatanu keessaa tokko ka te'e lafa horii itti tiffatanu woliin, Hamoot-Door lafa horii itti tiffatanu woliin, Qaartaan lafa horii itti tiffatanu woliin fudhatane.

³³ Maatiin fira Gershoonii akka maatii maatii isaaniititti wolumatti qachoota gugurdaa kudhanii sad lafa horii itti tiffatanu woliin fudhatane.

³⁴ Firri Meraarii gosi Lewwootaa worri hafe, lafa Zebuloonii keessaa qachoota gugurdaa afur: Yaakon'an lafa horii itti tiffatanu woliin, Qaartaa lafa horii itti tiffatanu woliin,

³⁵ Diimnaa lafa horii itti tiffatanu woliin, Naahaalal lafa horii itti tiffatanu woliin fudhatane.

³⁶ Lafa Ruubenii keessaa qachoota gugurdaa afur: Bezer lafa horii itti tiffatanu woliin, Yaahazaa lafa horii itti tiffatanu woliin,

³⁷ Qedemoot lafa horii itti tiffatanu woliin, Mefaat lafa horii itti tiffatanu woliin fudhatane.

³⁸ Lafa gosa Gaadii keessaa qachoota gugurdaa afur: Raamootii Galii'aad keessaa, qachaa nami nama ijjeese itti baqatu, lafa horii itti tiffatanu woliin, Mahanaayim lafa horii itti tiffatanu woliin,

³⁹ Heshiboon lafa horii itti tiffatanu woliin, Yaazer lafa horii itti tiffatanu woliin fudhatane.

⁴⁰ Maarre firri Meraarii gosa Lewwootaa worra hafeef, wolumatti qachoota gugurdaa kudhanii lama kennane.

⁴¹ Lafa kolbaan Israa'el qabatte keessaa lafa horii itti tiffatanu woliin wolumatti qachoota gugurdaa afurtamii saddeeti, Lewwootaaf kennane.

⁴² Qachooti kun tokko tokkoon isaaniituu adaala ifiititti lafa horii itti tiffatanu qaban.

Israa'elooti Lafa Fudhatane

⁴³ Maarre Waaqi lafa abbootii isaaniitiif kenniisaaf waadaa gale duudii Israa'elootaaf kenne. Isaan lafa san fudhataneen duuba achii le'ane.

⁴⁴ Waaqi akkuma abbootii isaaniitiif waadaa galetti lafa isaanii duudii keessatti nageya isaanii kenne. Diinota isaanii duudii irratti Waaqi injifachaa waan kenneef, diinota isaanii mara keessaa tokkolle isaan dura dhaabbatuu hin dandeenne.

⁴⁵ Waaqi waadaa kolbaa Israa'eliitiif gale tokkolle adoo hin hafin muummesse.

22*Gosi Gara Aduun Baatuu gara Manaa Deebi'ane*

¹ Achiin duuba Iyaasuun kolbaa gosa Ruubenii, Gaadiitii fi gosa Minaase'ee ta gara aduun baatuu wolitti waamee,

² Isaaniin, «Isin waan Muuseen tajaajilaan Waaqaa akka isin gootanuuf ajaje duudii gootaneertan; ajaja kiyya maralle'eef ajajantaneertan.

³ Yennaa tana duudii, isin haga adhaatitti Israa'eloota obboleeyyan teessan irraa gargar hin baane. Ajaja Mootii Waan Maraa Ka Waaqa keessanii akka dansaa eegattaneertan.

⁴ Amma, Gootaan Waaqi keessan akkuma waadaa gale Israa'eloota obboleeyyan teessaniif nageya kenneera. Tanaaf gara lafa laga Yordaanosii irraa gara aduun baatuu, ka tajaajilaan Waaqaa Muuseen isiniif kennetti deebi'a'a.

⁵ Seeraa fi ajaja Muuseen tajaajilaan Waaqaa isiniif kenne ifi eegganna'aan muummessa'a: Waaqa Gootaa keessan jaaladha'a; fedha isaa muummessa'a; ajaja isaa eegadha'a; isaaf addatama'a; gadhaa keessan tokkoochaa fi lubbuun teessan takkatti'iin isa tajaajila'a» jedhe.

⁶ Achiin duuba Iyaasuun isaan eebbisee ifi irraa geegesse; isaanille gara mana ifi galane.

⁷ Muuseen gamisa gosa Minaase'eetiif lafa Baashaanii kenneeraayyu; Iyaasuun ammoo gamisa gosa Minaase'ee worra hafeef obboleeyyan isaanii Israa'eloota waliin lafa laga Yordaanosiitiin gara aduun seentu kenneef. Iyaasuun akka isaan gara manaa galanuuf, yennaa ifi irraa eebbisee geegesse,

⁸ «Isin karra teessan hedduu, horii hedduu, meetii, worqii, sageettuu, sibiilaa fi woyaa hedduu fudhadha'aatii gara manaa deebi'a'a; waan boojitanelle obboleeyyan teessan waliin qoodama'a» jedheen.

⁹ Maarre kolbaan gosa Ruubenii, gosa Gaadiitii fi gamisi gosa Minaase'ee gara lafa ifi Giil'aadii, ta ajaja Waaqaatiin karaa Muuse'eetiin isaaniif kennante sanitti deebi'iisaaf, kolbaa Israa'elii worra hafe Shiilonii biyya Kana'aanii keessatti lakkisane gara manaa deebi'ane.

Addee Ciinca'aa Ta Laga Yordaanosii Biraa

¹⁰ Gosi Ruubenii, gosi Gaadiitii fi gamisi gosa Minaase'ee lafa laga Yordaanosii biraa ta Kana'aanotaa keessaa yennaa geyane, laga biratti addee ciinca'aa guddoo ta maade'ee ijaarane.

¹¹ Kolbaan Israa'elii worri hafe, akka gosi Ruubenii, gosi Gaadiitii fi gosi Minaase'ee ta gara aduun baatuu, lafa Israa'elootaa Kana'aan keessa lafa laga Yordaanosii biraatitti, addee ciinca'aa akka ijaarane dhage'ane.

¹² Kolbaan Israa'elii duudiin yennaa waan kana dhageette gosa gara aduun baatuu loliisaaf Shiilo'otti wolitti qabante.

¹³ Achiin duuba Israa'elooti, Fiinehaasinii ilma hayyicha Ele'azaarii, gara kolbaa lafa Giil'aadii gosa Ruubenii, gosa Gaadiitii fi gosa Minaase'ee ta gara aduun baatuutitti ergane.

¹⁴ Fiinehaas woliin namoota gugurdaa kudhan ergane; tokko tokkoon isaaniituu gosa gara aduun seentu keessaa, maatii fira ifi keessatti sooreyyi'i.

¹⁵ Isaanille gara lafa Giil'aadii kolbaa gosa Ruubenii, gosa Gaadiitii fi gosa Minaase'ee ta gara aduun baatuu dhaqanee isaaniin,

¹⁶ «Kolbaan Waaqaa duudiin gara keessan nu erganee, «Isin maaf Waaqa Israa'elii irratti waan hantuu tana gootane? Addee ciinca'aa tana ifiif ijaaratiisaan Waaqa finqiltaneertan; isa irralle'ee fagaattaneertan.

¹⁷ Cubbuun Phe'oritti teete nu hin geettuu? Kolbaa Waaqaa irratti balaan bu'ulle, nuuti haga adhaalle cubbuu san irraa adoo hin qulqulloomin jirra.

¹⁸ Isin amma Mootii Waan Maraa hordofuu diddanii? Yoo finqiltane, inni boru kolbaa Israa'elii duudi'itti hin mufata.

¹⁹ Latti teessan ta battootte yoo teete, addee dunkaaniin isaa jirtu gara lafa Waaqaa kowa'aa lafa nu woliin qoodama'a; ammoo addee ciinca'aa ta Mootii Waan Maraa Waaqa keennaa biratti ta dhibii ijaarratiisaan Mootii Waan Maraa yookiin nu hin fiqiliina'a.

²⁰ Akaan ilmi Zaara'aa waan Mootii Waan Maraatiif murteeffame fudhatiisaan attam ajajamuu akka dide qaabadha'a; kolbaan Israa'elii duudiin saniif adabante. Nami sababa cubbuu ifitiif du'e Akaan qofaa moti» jedhan» jedhane.

²¹ Kolbaan gosa Ruubenii, gosa Gaadiitii fi gosi Minaase'ee ta gara aduun baatuu, sooreyyii maatii gosa gara aduun seentuutiin,

²² «Waaqi gootaa waaqotaa ti! Waaqi gootaa waaqotaa ti! Inni maaf akka nuuti tana goone hin beeka; akka isinille beettanu barbaanna! Nuuti finqillee dhugeeffannaa eegatiisa yoo dhanne, lubbu'uun akka leenu nu hin lakkisina'a.

²³ Nuuti Waaqaaf ajajamuu dhannee ciincaa yookiin kennaa midhaanii yookiin woreega tokkumma'aa irratti dhikeessiisaaf addee ciinca'aa ka ijaarranneerru yoo te'e, Mootiin Waan Maraatuun nu adabuu ti.

²⁴⁻²⁵ Waawwo'o! Sanyiin teessan hegeri, «Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii woliin maan qaddan? Inni nu'uu fi isin kolbaa gosa Ruubeniitii fi Gaadii wodhakka'atti laga Yordaanosii meessaa godheera. Isin Mootii Waan Maraa woliin qooda hin qaddanu» jettee sanyii teenna hin gaafatti fa'a jennee waan sodaanneef tana goone. Sanyiin teessan sanyii teenna akka Waaqa hin waaqonsine dhooggiti.

²⁶ Tanaaf nuuti ciincaa yookiin woreegaa dhibii dhikeessiisaaf addee ciinca'aa hin ijaarranne.

²⁷ Ammoo isinii fi nu'u wodhakka'atti, dhaloota nu'uun duuba dhufu wodhakkaalle'etti, dunkaana woyyittii duratti ciincaa, woreegaa fi woreega tokkumma'aa qabannee Mootii Waan Maraa akka waaqonfatiisatti jirru kolbaa teennaa fi teessaniif beessisa teeti. Tanaaf sanyiin teessan sanyii teennaan, «Mootii Waan Maraa irraa qooda hin qaddanu» jechuu hin dande'an.

²⁸ Wonni kun yoo teete, yaad keenna, sanyiin teenna, «Ilaala'a! Addeen ciinca'aa ta abbootiin teenna hujje, addee ciinca'aa ta Waaqaaf hujanteen wol fakkaatti. Tunille odduu kolbaa teessaniitii fi teennaatitti beessisa teetee akka jiraattuuf malee, ta ciincaan yookiin woreegi irratti dhikaatuu moti» jenne.

²⁹ Nuuti dhugumaan addee ciinca'aa ta ciincaan, kennaan midhaaniitii fi woreegi irratti dhikeeffamu ijaariisaan Waaqa hin finqille yookiin isa hord-

ofiisa hin lakkinne. Nuuti addee ciinca'aa dhugittii Waaqaa ta dunkaana Woyyittii duraa qofa malee ta dhibii hin ijaarre» jedhane.

³⁰ Hayyichi Fiinehaa fi sooressitooti kolba'aa kudhan ka isa woliin jiranu sooreyyiin maatii gosa gara aduun seentuu, waan kolbaan gosa Ruubenii, gosa Gaadiitii fi gosa Minaase'ee ta gara aduun baatuu, dubbatane yennaa dhage'ane gammadane.

³¹ Fiinehaas Ilmi Ele'azaarii hayyichaa isaaniin, «Amma akka Waaqi nu woliin jiru beenneerra. Isin isa hin finqille; tanaaf kolbaa Israa'elii adabbii Waaqaa irraa fayyittaneertan» jedhe.

³² Achiin duuba Fiinehaas ilmi Ele'azaarii hayyichaatii fi sooressitooti kolbaa Ruubeniitii fi Gaadii lafa Giil'aadii keessaa ka'ane gara Kana'aanii deebi'ane, waan te'e Israa'elootatti himane.

³³ Israa'elooti waan dhage'ane sanitti gammadane Waaqa leellisane. Eega san isaan marroo lafa kolbaan Ruubeniitii fi Gaadii keessa qubataneeranu dhaqanee lolanee balleessiisaa hin dubbanne.

³⁴ Kolbaan Ruubeniitii fi Gaadii, «Addeen ciinca'aa tun Mootiin Waan Maraa Waaqa akka te'e, nu duudi'iif dhugaa baati» jedhane moggaasane.

23

Iyaasuun Nageya Dhaame

¹ Yennaa heddu'uun duuba, Mootiin Waan Maraa diinota adaala jiranu duudii irraa Israa'eloota foorfachiise. Yennaa san Iyaasuun guddoo dulloomeera.

² Maarre inni kolbaa Israa'elii duudii, jaarsolee, sooreyyii, abbootii mura'aatii fi qondaaltota kolba'aa waamee, «Ani amma guddoo dulloomeera.

³ Isin waan Mootiin Waan Maraa Waaqi sababa keessaniif, gosa biyya adda addaa tana duudi'iif godhe dhaggitaneertan. Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan isiniif loleera.

⁴ Ani lafa gosa adda addaa ta haga ammaa hin qabatamin jirtuu fi ta duruu qabadheeru, gara aduun baatuun laga Yordaanosii irraa jalqabee gara aduun seentuun haga Abbaayaa Mediteraaniya'aa gosa teessaniif kenneera.

⁵ Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan isaan isin duraa ari'ee hin baasa; isin duraa isaan hin fageessa. Isin akkuma Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan Waadaa isiniif galetti, lafa isaanii hin fudhattan.

⁶ Tanaaf waan kitaaba Seera Muuse'ee keessatti barreeffame maraaf ajajamiisaa fi tolchiisa jabaadha'aa eegadha'a. Isaan irralle'ee gara middaatitti yookiin gara bita'aatitti hin gorina'a.

⁷ Kolbaa odduu teessanitti hatte woliin wolitti hin makamina'a yookiin maqaa waaqota isaanii hin waammatina'a yookiin ittiin hin kakatina'a yookiin hin waqonsina'a yookiin hin sagadina'aaf.

⁸ Addee akkasii akkuma haga ammaa godhaa jirtanu, Mootii Waan Maraa Waaqa keessaniif addatama'a.

⁹ Mootiin Waan Maraa gosa biyya adda addaa gugurdo'oo fi jajjaboo isin duraa ari'eera; haga adhaa nami tokkolle isin dura dhaabbatiisa hin dandeenne.

¹⁰ Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan akkuma isiniif waadaa galetti waan isiniif loluuf, nami keessan tokkochi nama isaanii kuma hin ari'a.

¹¹ Tanaaf, isin jabeessa'aa ifi eegadha'aatii Mootii Waan Maraa Waaqa keessan jaaladha'a.

¹² Isin ammoo karaa Waaqaa irraa fagaattanee, worra odduu teessanitti hafe woliin makantanee yoo wol fuutane,

¹³ Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan haganaa achi kolbaa tana isin duraa akka hin ariine beeka'a; isaan ammoo haga isin lafa dansaa Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan isinii kenne tana irraa isin balleessanutti, akka tiyyo'ootii fi fonxoro'oo, dudda keessaniif akka liche'ee, ila teessaniif akka qore'ee isinitti hin te'an.

¹⁴ «Amma yennaan ani du'u geetteerti; isin keessaa tokko tokkonuu, Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan waan dansaa waadaa gale mara tokkolee adoo hin hafin akka isiniif kenne, gadhaa ifii tokkochaa fi lubbuu ifii takkatti'in hin beeka.

¹⁵ Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan waan dansaa waadaa isiniif gale akkuma muummesse, akkasuma biyya dansaa isiniif kenne keessaa haga isin balleessutti waan hantuu duudii isinitti hin fida.

¹⁶ Gondooroo Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan akka isin eegattanu ajaje eegatuu dhaddanee, waaqota dhibii dhaxxanee tajaajiltanee yoo sagaddane, mufiin Waaqaa isin irratti bobeetti; lafa dansaa inni isiniif kenne irralle'ee ariiti'in baddan» jedhe.

24

Iyaasuun Sheekemitti Kolba'atti Dubbate

¹ Iyaasuun gosa Israa'elii duudii Sheekemitti wolitti qabee, jaarsolee, sooreyyii, abbootii mura'aatii fi qondaaltota Israa'el waame; isaanille Waaqa duratti wolitti qabamane.

² Iyaasuun kolbaa duudi'in, «Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, «Bara durii abbootiin teessan ta laga Efraaxiisiitiin gama leetu waaqota dhibii waaqonfate; isaan keessaa tokkochi Taaraanii abbaa Abrahaamiitii fi Naahorii ti.

³ Ani ammoo abbaa keessan Abrahaam laga Efraaxiisiitiin gamaa fuudhee, biyya Kana'aanii duudii keessa isa sooressee, sanyii hedduu isaaf kenne. Ani isaaf Yisihaq,

⁴ Yisihaqiifille Yaaqoobii fi Esaawuu kenne; Esaawuuf biyya koobittii Se'iir kenne; Yaaqoobii fi ijoolleen isaa ammoo gara biyya Gibxi'ii gad bu'ane.

⁵ Achiin duuba Muuse'ee fi Aaron gara biyya Gibxi'ii ergee, biyya Gibxi'ii irratti balaa guddaa buuse; isin ammoo achii baase.

⁶ Ani abbootii teessan ta durii biyya Gibxi'iitii yennaa baase, worri Gibxi'ii garreettaa fardaatii fi abbootii fardaatiin haga abbaayaa diintuu isaan ari'ane.

⁷ Abbootiin teessan ammoo akka ani isaan qarqaaruuf gara kiyya iyyane. Anille isaanii fi worra Gibxi'ii wodhakka'atti dukkana buusee, abbaayaa isaan irratti garagalchee akka lixanu godhe. Waan ani worra Gibxi'ii irratti godhe ila teessaniin dhaggitaneertan; eega san isin yennaa hedduu goomolee keessa leetane.

⁸ Achiin duuba gara lafa Amoorota laga Yordaanosii irraa gara aduun baatuu jiranu isin fide. Isaan isin lolane; ani ammoo isaan harka keessanitti dabarsee kenne. Ani fuula keessan duraa isaan balleessee, lafa isaanii fudhattane.

⁹ Mootiin Mo'aabii ilmi Ziphoorii Balaqi, isin loliisaaf yennaa ka'e, ilma Phe'orii Bala'aam akka isin abaaruuf erge.

¹⁰ Ani ammoo Bala'aamiif hin dhageenne; maarre inni isin eebbise; akka kanaan ani Balaqi jalaa isin baase.

¹¹ Isin laga Yordaanosii buutanees gara Yeriko'oo dhuttane. Worri Yeriko'oo, akkasuma worri Amoorotaa, Pheriizotaa, Kana'aanotaa, Heetotaa, Girgaashotaa, Hiiwotaatii fi Yibusootaa isin lolane; ani ammoo harka keessanitti dabarsee isaan kenne.

¹² Akkuma mootota Amoorotaa lamaan irratti godhe, soonsa isin duraa isaan ari'u itti erge; kun shallaagaa yookiin guubee teessaniin waan te'ee moti.

¹³ Ani lafa isin ijjuma hin hujinii fi qachaa isin hin ijaarin isiniif kenneera. Amma isin midhaan muka woyni'itii fi muka ejersaa hin dhaabin irraa nyaataa achi le'aartan» jedha» jedhe.

¹⁴ Iyaasuun ammalle kolba'aan, «Mootii Waan Maraa ulfeessa'a; dhuga'aa fi addatamumma'aan isa tajaajila'a; waaqota abbootiin teessan ta durii laga Efraaxiisiitii fi biyya Gibxi'iititti waaqonfatane irraa fagaadha'aatii, Mootii Waan Maraa gofa waaqonfadha'a.

¹⁵ Yoo isin isa waaqonfatiisaaf fedha hin qabaatin ammoo, waaqota abbootiin teessan ta durii laga Efraaxiisiitiin gamatti waaqonfatte yookiin waaqota Amoorotaa ka lafa isin amma keessa le'aartanuu waaqonfatiisaaf murteeffadha'a. Anii fi maatiin tiyya ammoo Mootii Waan Maraa hin waaqonfanna» jedhe.

¹⁶ Kolbaan deebittee, «Mootii Waan Maraa lakkinne waaqota dhibii ijjumaa hin waaqonfannu!

¹⁷ Mootiin Waan Maraa Waaqi keenna, abbootii teennaa fi nu'u garbummaa biyya Gibxi'ii jalaa baaseera; bilbaasota inni godhelle dhaggineerra; kolbaa biyya adda addaa ta keessa dabarre duudii oddu'utti nageyaan nu eegeera.

¹⁸ Mootiin Waan Maraa kolbaa Amoorotaa ta lafa san keessa leetu duudii nu duraa ari'e. Inni Waaqa keenna waan te'eef, nuutille isa hin waaqonfanna» jette.

¹⁹ Iyaasuun kolba'aan, «Mootiin Waan Maraa Waaqa woyyichaa fi hinaaticha waan te'eef, isa tajaajiluu hin dandeettanu; inni yakka'aa fi cubbuu teessan hin araaramu.

²⁰ Isin isa lakkittanee waaqota orma yoo waaqonfattane, inni dur dansaa isiniif te'ulle, waan hantuu isinitti fidee, isin hin balleessa» jedhe.

²¹ Kolbaan Iyaasu'uun, «Waawwo'o! Nuuti Mootii Waan Maraa waaqonfanna» jette.

²² Iyaasuun isaaniin, «Isin Mootii Waan Maraa waaqonfatiisa waan filatta-neef isinuu ifiif dhugaa baatota» jedhe.

Isaan, «Eeti'! Nuuti dhugaa baatota» jedhane.

²³ Achiin duuba Iyaasuun kolba'aan, «Waaqota orma ka odduu teessan jiranu gata'aatii, gadhaa keessan gara Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii deebifadha'a» jedhe.

²⁴ Achiin duuba kolbaan Iyaasu'uun, «Nuuti Gootaa Waaqa keenna hin waaqonfanna; ajaja isaalle hin eeganna» jette.

²⁵ Guyyuma san Iyaasuun Shekemitti kolbaa woliin gondoorroo godhee, seeraa fi qajeelfama ittiin bulanu isaaniif kenne.

²⁶ Iyaasuun ajajjoota tana kitaaba Seera Waaqaa keessatti barreesse; achiin duuba dhakaa guddaa tokko fuudhee, addee woyyittii Mootii Waan Maraa bira qilxaa jalatti dhaabe.

²⁷ Inni kolbaa duudi'ii, «Dhakaan kun waan Mootiin Waan Maraa nu'utti dubbate, duudii waan dhage'eef, nu irratti dhugaa hin baya; tanaaf yoo Waaqa mormattane dhakaan kun isin irratti dhugaa hin baya» jedhe.

²⁸ Achiin duuba Iyaasuun kolbaa ifi irraa geegesse; nami martinuu gara lafa ifii deebi'e.

Du'a Iyaasu'uutii Fi Ele'azaarii

²⁹ Saniin duuba tajaajilaan Mootii Waan Maraa Iyaasuun ilmi Nunii, woggaa dhibbaa fi kudhanitti du'e.

³⁰ Israa'elooti lafa isaa ta «Tiimnat-Seraa» jedhantu, biyya koobittii Efreem keessaa ta gaara Ga'aashiitiin gara kaaba jirtutti awwaalane.

³¹ Bara Iyaasuun jiru'uun jiru duudii kolbaan Israa'elii Waaqa waaqonfatte; du'a isaatile'een duuba, haga bara jaarsoleen waan Waaqi Israa'eliif godhe mara ila ifiitiin dhaggane jiranuutitti Waaqa waaqonfatane.

³² Lafeen Yoseefii ta Israa'elooti biyya Gibxi'iitii fidane, lafa diqqoo ta Yaaqoob ilmaan Hamoorii abbaa Sheekemii irraa meetii dhibba tokkoon bite, lafa sanyii Yoseefii keessatti awwaalante.

³³ Ilmi Aaronii Ele'azaar du'ee, qachaa biyya koobittii Efreemii keessaa ka ilma isaa Fiinehaasiif kenname Giibe'atti awwaalame.

Kitaaba Abbootii Mura'aa Seensa

Kitaab abbootii mura'aa, kolbaan Israa'elii biyya kana'aanii haga seen-teen jalqabee, mootummaan mooti'iin jalatti bultu haga ijaarrantetti dabarsii jirtu ka himu; barri sun bara kolbaan Israa'elii, waaqota dharaa waaqonfatiisaan Waaqaaf ajajamuu didatte. Dabarsiin tun marroo hujii worra jannoota, «Abbootii mura'aa» jedhamuu dubbatti. Abbootii mura'aa tana keessaa hedduun, sooressitoota woraanaatiyyu; isaan keessaa jannumma'aan guddoo ka beekkame, hujiin isaalle foora kudhanii sadii haga kudhanii jaatitti tarre'een ka dhaggantu, nama «Samsoon» jedhamu tokkotti jiraayyu.

Barsiisi guddaan kitaaba kana keessaa, jiruun kolbaa Israa'elii ta mirkanootu addatamummaa isaan Waaqa irratti qabanuun yoo teetu, yennaa isaaf addatamummaa dhabanu, yennaa mara badiin isaan irra dhaqqaddu mudhisa. Wonni dhibiin tana caaltulle ammoo hin jirti; tunille yennaa kolbaan Waaqaaf addatama dhaddu, badiin irra dhaqqaddulle, yennaa kolbaan cubbuu ifii irraa deebitee gara Waaqaa deebitu, inni yennaa mara kolbaa ifii fayyisiisaaf ka qophowe.

Haadhoo Dubbi'ii

Haga du'a Iyaasu'uutitti Waan Te'e1:1–2:10

Abbootii Mura'aa Ta Israa'elii2:11–16:31

Hujii Adda Addaa17:1–21:25

Sanyiin Yihuda'aatii Fi Shimi'oonii Mooticha Adonii-bezeq booji'ane

¹ Iyaasuun du'een duuba kolbaan Israa'elii, «Kana'aanota loliisaaf sanyii teenna keessaa eentu dursee duuluu qaba?» jettee Mootii Waan Maraa gaafatte.

² Mootiin Waan Maraa deebisee, «Sanyiin Yihuda'aa dursitee duultuu ti. Ani lafa san dabarsee isaaniif hin kenna» jedhe.

³ Kolbaan Yihuda'aa kolbaa Shimi'oonii obboleeyyan ifitiin, «Kana'aanota loliisaaf gara lafa nu'uuf kennantee, woliin deennuu ti. Achiin duuba nuutille gara lafa isiniif kennantee, isin woliin deenna» jedhane. Maarre sanyiin Shimi'ooniille isaan woliin deemane.

⁴ Kolbaan Yihuda'aa yennaa lolaaf baate, Mootiin Waan Maraa Kana'aanotaa fi Pheriizota harka isaaniititti dabarsee kenne; isaaniille qachaa Bezeqiititti namoota kuma kudhan ijjeesane.

⁵ Isaan achitti mootii Adonii-bezeq dhagganee isa lolanee, Kana'aanotaa fi Pheriizota worra hafane injifatane.

⁶ Adonii-bezeq isaan duraan baqate; isaan ammoo ari'anee isa qabane, quba abguddicha* miilaatii fi ka harka isaa murane.

⁷ Adonii-bezeqille, «Moototi torbaatam worri quba abguddoo miilaatii fi ka harkaa muramane, hambaa qorii tiyyaa jalaa qocataa nyaataniyyu. Daba ani isaan irratti huje, adha Waaqi deebisee natti fide» jedhe. Kolbaan Yihuda'aa gara Yerusaalemii isa geessitee, inni achitti du'e.

⁸ Achiin duuba kolbaan Yihuda'aa qachaa Yerusaalemii loltee qabatte; namoota qachaa keessa jirulle shallaaga'aan fixxee, qachaa sanille ibiddaan gudde.

* 1:6 Quba abguddicha: Worri tokko tokko quba arguddicha jedha.

⁹ Kanaan duuba kolbaan Yihuda'aa, Kana'aanota worra biyya koobaa, goomolee kibba Negebiitii fi lafa kooba jalaa ta gara aduun seentuu loliisaaf dhaxxe.

¹⁰ Worri Yihuda'aa, Kana'aanota qachaa Kebroonii ka dur, «Kiriiyati-Arbaa» jedhamu keessa le'anuu loliisaaf dhaqane; isaan sanyii Sheshaayii, Ahimaaniitii fi Talmaayii injifatane.

Otnii'el Qachaa Deebirii Injifate

¹¹ Kolbaan Yihuda'aa, worra qachaa Deebirii ka dur, «Kiriiyat-Sefe» jedhamu keessa le'u loliisaaf dhaqane.

¹² Kaaleb, «Nama Kiriiyat-Sefer lolee qabatuuf, ani intala tiyya Aksaa hin heerumsiisa» jedhe.

¹³ Otnii'el ilmi Qenazii obboleessa maandhicha Kaalebii qachaa san qabate; tanaaf Kaaleb intala ifii Aksaa Otnii'el heerumsiise.

¹⁴ Aksaan Otnii'el heerumteen duuba, akka inni abbaa isi'ii irraa fichaa gaafatuuf itti hinte. Yennaa isiin harree ifii irraa baate, Kaaleb, «Ani maan akka si'iif godhu barbaadda?» jedhee gaafate.

¹⁵ Isiille deebittee, «Latti ati naaf kennite lafa gammoojji'ii keessa waan teeteef, madda bisaaniille akka naaf kennitu barbaada» jette. Maarre Kaaleb madda bisaanii ka oliitii fi ka gadii kenneef.

Injifachaa Gosa Yihuda'aatii Fi Beniyaamii

¹⁶ Sanyiin abbaa soddaa Muuse'ee Qenichaa, kolbaa Yihuda'aa woliin qachaa Meexxi'iitii ka'anee, lafa biyya Yihuda'aa keessaa gara lafa goomolee kibbaa ta qachaa Araadii biraatitti ol bayanee, kolbaa biyya sanii woliin le'ane.

¹⁷ Kolbaan Yihuda'aa obboleeyyan ifii kolbaa Shimi'oonii woliin gara qachaa Zifaatii dhaqanee, Kana'aanota achi le'anuu lolanee qachaa san ijjumaa balleessane; tanaaf maqaa qachaa saniille, «Hormaa†» jedhane baasane.

¹⁸ Kolbaan Yihuda'aa qachoota Gaaza'aa, Ashqaloonii, Egrooniitii fi lafa adaala qachaa saniille qabatane.

¹⁹ Mootiin Waan Maraa kolbaa Yihuda'aa woliin waan jiruuf, isaan biyya koobittii injifatane fudhatane; ammoo worri lafa dirree keessa le'u, garreettaa sibiilaa‡ ka fardo'oon harkifamu waan qabanuuf, isaan ari'anee baasiisaaf hin dandeenne.

²⁰ Akkuma Muuseen ajajetti qachaan Kebroonii Kaalebiif kenname; innille sanyii ilmaan Aanaaqii sad achii ari'ee baase.

²¹ Sanyiin Beniyaaminii ammoo, Yibusoota ari'anee Yersaalem keessaa waan hin baasiniif, isaan haga adhaa kolbaa Beniyaaminii woliin Yersaalem keessa le'an.

Sanyiin Ilmaan Yoseefii Qachaa Bet'elii Qabatte

²² Sanyiin ilmaan Yoseefii qachaa Bet'elii loliisaaf dhaxxe; Mootiin Waan Maraalle isaan woliin jiraayyu.

²³ Sanyiin ilmaan Yoseefii gara qachaa Bet'eliititti gaaddota ergite; maqaan qachaa Bet'elii dur, «Luz» jedhama.

²⁴ Gaaddoti sun nama qachaa keessaa gad bawu dhagganee, «Karaa gara qacha'aa seenu nutti mudhisi; nuutille waan dansaa si'iif goona» jedhaneen.

²⁵ Maarre innille karaa gara qacha'aa seenu isaanitti mudhise; isaanille worra qachaa keessa le'u shallaaga'aan fixane; namichaa fi maatii isaa ammoo nageyaan lakkisane.

† 1:17 Hormaa: Afaan Ibrootaatiin Badiisa jechu'u. ‡ 1:19 Garreettaa sibiilaa: Garreettaa sibiilaa kana lolaaf itti fayyadaman.

²⁶ Namichi sun gara biyya Heetotaa dhagee, qachaa maqaan isaa haga adhaa, «Luz» jedhamee beekamu ijaare.

Kolbaa Worri Israa'elii Hin Ari'in

²⁷ Sanyiin Minaase'ee worra Bet-shaan, Ta'anaa, Door, Yible'aam, Megidoo fi worra ollaa adaala isaanii keessa le'u ari'anee hin baanne; Kana'aanotille achuma keessa le'iisaaf murteeffatane.

²⁸ Israa'elooti yennaa jabaatane, worri Kana'aanotaa akka hujii hunnaa isaaniif hujanu, hunnaan godhane malee, isaan mara ari'anee hin baanne.

²⁹ Sanyiin Efreemiille Kana'aanota qachaa Gezerii keessa le'anuu ari'anee hin baanne; tanaaf Kana'aanoti odduu isaanii Gezer keessa le'ane.

³⁰ Sanyiin Zebuloonii Kana'aanota Qiixronii fi Nahalol keessa le'anuu ari'anee hin baanne; ammoo isaanuma odduu le'aa hujii hunnaa akka hujanu hunnaan godhane.

³¹ Sanyiin Asheerii worra qachaa Aakoo, Sidoonii, Ahilaabii, Akziibii, Helba'aa, Afeqiitii fi Rehoobii keessa le'u ari'anee hin baanne.

³² Tanaaf kolbaan Asheerii Kana'aanota achi jiranu waliin le'ane.

³³ Sanyiin Niftaalemii Kana'aanota Bet-sheshii fi Bet-anaa keessa le'anuu ari'anee hin baanne; tanaaf worri Kana'aanota isaan waliin lafa san le'ane; ammoo hujii hunna akka isaanii hujanu hunnaan godhane.

³⁴ Worri Amoorotaa sanyii Daanii gara biyya koobitti'ii ari'ane; gara dirre'eelle gad bu'iisa isaan dhooggane.

³⁵ Worri Amoorotaa Ayalon, Sha'aalbiimii fi kooba Heresii keessa le'iisaaf murteeffatane; sanyiin ilmaan Yoseefii ammoo ifin jalatti isaan bulchaa, akka hujii hunna isaaniif hujanu hunnaan godhane.

³⁶ Meessaan worra Amoorotaa tarba Aqrabiimii Selaa irraa jalqabee, ol baya.

2

Ergamaan Mootii Waan Maraa Bokiimitti Israa'elootatti Dubbate

¹ Ergamaan Mootii Waan Maraa qachaa Giilgalii irraa gara Bokiimii ol bayee, Israa'elootaan, «Ani biyya Gibxi'iitii isin baasee, gara biyya abbootii teessan ta duriitiif kenniisaaf waadaa galee isin fide; ani, «Gondooroo isin waliin godhe haga bara baraa hin diigu.

² Isin addee ciinca'aa ta worra biyya kanaa diiga'a malee, isaan waliin wol hin gondoorina'a» jedheera; isin ammoo naaf hin ajajanne. Isin maaf tana gootane ree?

³ Maarre ani amma, worra kana isin duraa hin ari'u. Isaan isiniif diina te'an; waaqoti isaaniille tiyyoo isinitti te'an» jedhe.

⁴ Yennaa ergamaan Mootii Waan Maraa tana dubbate, kolbaan Israa'elii marti qoonqoo ol qabattee bootte.

⁵ Tanaaf addeen sun «Bokiim*» jedhantee moggaafante. Isaan achitti ciincaa Mootii Waan Maraatiif dhikeessane.

Du'a Iyaasu'uu

⁶ Iyaasuun kolbaa Israa'elii gara addee addee isaaniititti yennaa erge, nami tokko tokkonuu qooda lafa ifii fudhatiisaaf gara lafa ifii dhage.

⁷ Bara Iyaasu'uutii fi bara jaarsolee isaan duuba le'anee, waan gugurdoo Mootiin Waan Maraa kolbaa Israa'eliitiif godhe mara dhagganeetitti, kolbaan Waaqa waaqonfatte.

⁸ Iyaasuun ilmi Nunii tajaajilaan Mootii Waan Maraa woggaa dhibbaa fi kudhanitti du'e.

* 2:5 Bokiim: Afaan Ibrootaatiin Worra bowu jechu'u.

⁹ Isaan lafa gooda isaa biyya Efreemii koobittii, ta gaara Ga'aashii irraa gara kaabaa jirtu, Tiimnaat-Heresitti isa awwaalane.

¹⁰ Dhalooti sun marti dhumatteen duuba, dhalooti dhibiin ka Waaqaa fi waan Waaqi kolbaa Israa'eliitiif godhe hin beenne kaate.

Kolbaan Israa'elii Waaqa waaqonfatiisaa Lakkitte

¹¹ Achiin duuba kolbaan Israa'elii waan fuula Mootii Waan Maraa duratti hantuu te'e hujjee, waaqota dharaa Ba'aal waaqonfatte.

¹² Isaan Mootii Waan Maraa Waaqa abbootii isaanii biyya Gibxi'ii keessaa baase waaqonfatiisa lakkisane; waaqota worra adaala isaanii jiruu hordofanee, sagadiisa jalqabane, Mootii Waan Maraa aarsane.

¹³ Isaan Waaqa waaqonsiisa lakkisane waaqota dharaa Ba'aalii fi Ashitaaroti waaqonfatane.

¹⁴ Tanaaf Mootiin Waan Maraa kolbaa Israa'eliititti aaree, worra isaan saamutti dabarsee isaan kenne; inni harka diinota adaala isaanii maratti isaan gurgure; achiin duuba kolbaan Israa'elii diinota ifii ifi irraa dhooggatiisa hin dandeenne.

¹⁵ Mootiin Waan Maraa akkuma kaku'uun isaanitti dubbate, yennaa lolaaf bayanu mara, akka isaan injifatamanuuf isaan morme; tanaaf isaan guddoo rakkatane.

¹⁶ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa, Israa'eloota worra isaan saamu jalaa akka baasanuuf abbootii mura'aa isaaniif kaase.

¹⁷ Kolbaan Israa'elii ammoo, Mootii Waan Maraatiif addatamuu lakkittee, waaqota dhibii waaqonfatiisaan sagaagaltee, sagaddeef malee, abbootii mura'aa ifitiif hin ajajanne. Abbootiin isaanii Waaqaaf ajajanteertiyyu; isaan ammoo karaa abbootiin isaanii ta durii ideente irraa ariiti'iin gorane; fakkeenaa isaaniille hin hordonne.

¹⁸ Mootiin Waan Maraa, abbootii mura'aa yennaa isaaniif kaase, abbaa mura'aa tokko tokkooyyuu waliin jiraatee, bara abbaa mura'aa san maraa Israa'eloota harka diinotaa keessaa baasaareeyyu; namooti waan isaan miidhanee cunqursaneef, yennaa isaan qarqaariisaaf gara Mootii Waan Maraa iyyane, inni isaaniif naye.

¹⁹ Abbaan mura'aa yennaa du'u ammoo, kolbaan waaqota dhibii hordofisaan, isaan waaqonfattee sagaddee, abbootii ifii ta durii caalaa hammeenna hujane; hujii hantuu ifitii fi mataa jabinna ifille hin lakkinne.

²⁰ Tanaaf aariin Mootii Waan Maraa kolbaa Israa'elii irratti bobeettee, «Kolbaan tun gondoaroo ani abbootii isaanii ta durii akka eegatanuuf ajaje diigane, ajaja kiyyalle waan hin eegatiniif,

²¹ gosa biyya adda addaa ka Iyaasuun yennaa du'e lakkise, ani hagamaa achi isaan keessaa tokkolle ari'ee hin baasu.

²² Kolbaan Israa'elii, akkuma abbootii isaanii ta durii, karaa kiyya ka hordofanu yookiin ka hin hordonne te'uu isaanii, worra achitti hafe saniin haga isaanii ilaala» jedhe.

²³ Tanaaf Mootiin Waan Maraa gosa biyya adda addaa san achuma akka le'anu godhe; ariiti'iin ari'ee isaan hin baanne; harka Iyaasu'uulletti dabarsee isaan hin kennine.

3

Gosa Biyya Adda Addaa Ka Adoo Hin ari'amin Hafane

¹ Israa'eloota lola Kana'aanii keessatti hin dhaggamin haga ittiin ilaaliisaaf, gosi biyya adda addaa ka Mootiin Waan Maraa lakkise ka asii gadii kana.

² Inni dhaloota Israa'elii ta kanaan qara lola irratti dhaggamanee hin beenne, lola barsiisiisaaf tana jedhe.

³ Gosi biyya adda addaa ka achitti hafane kunille, bulchitoota Filisxeemotaa shanan, Kana'aanota duudii, Sidoonota, Hiiwota worra gaara Ba'aal-Hermoonitii jalqabee haga Haamaatitti, gaara hedduu Libaanonii gubbaa le'u.

⁴ Gosi biyya adda addaa kun, ajaja Mootiin Waan Maraa karaa Muuse'eetiin abbootii isaanii ta duriitiif kenne, Israa'elooti akka ajajamanu yookiin hin ajajanne beekiisaaf ittiin haga ilaaliisaaf achitti hafane.

⁵ Tanaaf Israa'elooti worra Kana'aanotaa, worra Heetotaa, worra Amoorotaa, worra Pheriizotaa, worra Hiiwotaatii fi worra Yibusootaa woliin le'ane.

⁶ Isaan durra isaanii fuudhanee, ta ifi ilmaan isaanii heerumsiisane; waaqota isaanille waaqonfatane.

Otnii'el

⁷ Israa'elooti Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu hujane; isaan Waaqa Mootii Waan Maraa ifi lakkisane, waaqota dharaa Ba'aalii fi Asheeraa waaqonfatane.

⁸ Tanaaf Mootiin Waan Maraa Israa'elitti guddoo aaree, harka mootii Mesophotaamiya'aa, Kushaan-Riishaataayimiitti dabarsee isaan kenne; isaanille woggaa saddeeti mootii san tajaajilane.

⁹ Yennaa Israa'elooti gara Mootii Waan Maraa iyyane ammoo, innille harka mootichaa jalaa ka isaan baasu, ilma Qenazii obboleessa Kaalebii maandhicha Otnii'el isaaniif kaase.

¹⁰ Ayyaanni Mootii Waan Maraa Otnii'el irratti bu'ee; innille Israa'el irratti abbaa mura'aa te'e; yennaa inni lolaaf baye Mootiin Waan Maraa mootii Mesophotaamiya'aa Kushaan-Riishaataayim harka isaatitti dabarsee kenne; innille Kushaan-Riishaataayim injifate.

¹¹ Tanaaf latti woggaa afurtama nageyaan turte; achiin duuba ilmi Qenazii Otnii'el du'e.

Ehud Israa'eloota Rakkinna jalaa Baase

¹² Israa'elooti ammalle Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu hujje; waan kanaaf Mootiin Waan Maraa mootiin Mo'aabii Egloon akka Israa'eloota injifatu hunna kenneef.

¹³ Egloon mootota Amoonotaatii fi Amaaleqootaa ede'atee, Israa'eloota lolee, qachaa meexxi'ii* qabate.

¹⁴ Israa'elooti mootii Mo'aabii Egloon woggaa kudhanii saddeeti tajaajilane.

¹⁵ Yennaa Israa'elooti gara Mootii Waan Maraa iyyane; innille nama isaan bilisa baasu, sanyii Beniyaaminii keessaa ilma Gera'aa Ehud ka harka bitaachaa isaan qarqaaruuf kaase. Israa'elooti mootii Mo'aabii Eglooniif akka gibira geessu isa ergane.

¹⁶ Ehud shallaagaa ciqilee tokko dheeratu, ka gara lamaaniinuu qara qabu tumsiifatee, woyaa ifi jalaan tafa middaatitti hidhate.

¹⁷ Achiin duuba inni gibira san mootii Mo'aabii namicha guddoo furdaa te'e, Eglooniif geesse.

¹⁸ Ehud gibira kenneen duuba, worri gibira ba'atee dhage, gara mana ifi akka deebi'anu godhe.

¹⁹ Inni ifi ammoo, dhakaa ijaarsaaf qotanee baasane, ka Giilgal biraa yennaa geye duubatti deebi'ee, gara mootii Egloonii dhagee, isaan, «Ee mootii! Ani ergaa dhossa'aa ta sitti himu qaba» jedhe; mootichille, «Cadhisa'a» jedhe.

* **3:13** *Qachaa meexxi'ii*: Qachaan kun Yeriko'o.

Achiin duuba tajaajiltooti isaa marti isa biraa gad bayane.

²⁰ Egloon kolloo ifii ta mana gubba'aa ta qilleensa qaddu keessa qofuu tee'eeruun, Ehud isa bira dhaqee, «Ergaa Waaqa biraa sii dhutte qaba» jedheen. Mootichille ol ka'ee dhaabbatte.

²¹ Ehud shallaagaa ifii tafa middaa irraa harka bitaachaan buqqifatee, gadhaa mootichaa hordee woraane.

²² Addeen qabata shallaaga'aalle adoo hin hafin gadhaa keessa seenee, qacceed shallaaga'aa dudda duubaan fullaate; moorri namichaa shallaagaa waan golleef, Ehud shallaagaa gadhaa namichaa keessaa hin buqqinne.

²³ Achiin duuba Ehud kolloo mootichaa ka mana irraa keessaa gad bayee, duubaan balbala itti cufee danqare.

²⁴ Ehud mana keessaa bayee deemeen duuba, tajaajiltooti isaa dhufanee balbalti kolloo mootichaa ta mana irraa cufanteertuun yennaa dhaggane, mootichi faalowa irra waan jiru seyane.

²⁵ Isaan haga eeganee dadhabanutti[†] eegane; ammoo inni balbala banuu dhannaan, furtuu fuudhanee balbala banane. Achitti goottaan isaanii du'ee lafa irra irkateeruun dhaggane.

²⁶ Tajaajiltooti mootichaa balbala banamiisa adoo eeganuu, Ehud isaan irraa fagaatee deeme. Inni dhakaa ijaarsaaf qotanee baasanu san irra taree, gara Se'iira'aa miliqe.

²⁷ Inni yennaa achi geye, biyya koobittii Efreemiititti tultullaa[‡] afuufe; kolbaan Israa'eliille inni isaaniin dura deemuun, isa woliin gaara irraa gad buute.

²⁸ Inni isaaniin, «Mootiin Waan Maraa diinota keessan worra Mo'aabii harka keessanitti dabarsee waan kenneef na hordofa'a» jedhe. Tanaaf isaan isa gula gad bu'anee, malkaa laga Yordaanosii ta gara Mo'aabii gamatti bayanu qabatanee, nami tokkolle achiin akka hin dabarre dhooggane.

²⁹ Yennaa san loltoota jajjabaa fi hunnaameyyii Mo'aabii keessaa, gara kuma kudhanii ijjeesane; nami isaan jalaa miliqe tokkolle hin jiru.

³⁰ Israa'elooti gaafa san worra Mo'aabii injifatte; latti sunille woggaa saddeettama nageya dhaggatte.

Shamgaar

³¹ Ehudiin duuba ilmi Anaatii Shamgaar, sibiila mutaa qotiyyoon oofanuun worra Filisxeemotaa dhibba jaa ijjeesee, kolbaa Israa'elii isaan jalaa baase.

4

Debora'aa Fi Baaraaqi

¹ Ehud du'een duuba, Israa'elooti ammalle Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu hujane.

² Tanaaf Mootiin Waan Maraa, harka Yaabiinii mootii Kana'aanii ka qachaa Hazoorii bulchuutitti dabarsee isaan kenne. Ajajaan loltoota isaa, nama «Siiseraa» jedhamu ka qachaa Haroshet-hagoyiimii keessa le'u.

³ Mootichi Yaabiin garreettaa sibiilaa ka fardo'oon harkifamu dhibba sagal waan qabuuf, woggaa diddama gadhi-jabeennaan waan cunqurseef, Israa'elooti akka Mootiin Waan Maraa isaan qarqaaruuf iyyite.

⁴ Yennaa san Deboraan raagittiin haati manaa Laphiidotii, kolbaa Israa'eliitiif haadha mura'aa ti.

[†] 3:25 Dadhabanutti: Yookiin hifatanutt. [‡] 3:27 Tultullaa: Yookiin faaggaa jedhama.

⁵ Isiin biyya koobotii Efreemii keessa, qachaa Raama'aatii fi Bet'elii odduu meexxii Debora'aa jala teettee muraa kenniti; kolbaan Israa'eliille muraa dhaggatiisaaf gara isi'ii dhaxxiyyu.

⁶ Gaafa tokko Deboraan qachaa Qedeeshii ka Naftaalem keessaatitti ilma Abiino'aamii Baaraaqitti nama ergitee waansittee, «Mootiin Waan Maraa, Waaqi Israa'elii, «Dhaqiitii sanyii Niftaalemiitii fi Zebuloonii keessaa namoota kuma kudhan gara gaara Taaborii geessi.

⁷ Siiseraan ajajaan loltoota Yaabiinii, garreettaa sibiilaa ka fardaan harkifamuu fi loltoota ifii woliin laga Kiishoniititti si loliisaaf gara keeti akka dhufu hin godha; harka keetille'etti dabarsee isa hin kenna» jedhee si aja-jeera» jetteen.

⁸ Achiin duuba Baaraaqi isi'iin, «Yoo ati na woliin dhaxxe anille hin dhaqa; yoo ati na woliin hin dhaqin ammoo anille hin dhaqu» jedhe.

⁹ Isiille deebittee, «Teetuu ti; ani si woliin hin deema; ammoo Mootiin Waan Maraa Siiseraa harka dubarti'iititti dabarsee waan kennuuf, karaa ati yaaddu kanaan ulfinni si'iif hin te'u» jette. Achiin duuba Deboraan Baaraaqi woliin Qedeesh dhaxxe.

¹⁰ Baaraaqi sanyii Zebulooniitii fi Niftaalemii Qedeeshitti waame; loltooti kum kudhan isa gula deemane; Deboraalle isa woliin dhaxxe.

¹¹ Heberii Qenichi sanyii Hobaabii abbaa soddaa Muuse'ee, worra Qenootaa dhibii irraa gargar bayee, dukaana ifii lafa «Zaa'anaaniim» jedhantu ta qachaa Qedeeshii bira jirtu keessatti, muka qilxa'aa cina'atti dhaabe.

¹² Ilmi Abiino'aamii Baaraaqi gara gaara Taaboriititti akka ol baye Siisera'atti himane.

¹³ Siiseraalle garreettaa sibiilaa ka fardaan harkifamu dhibba sagalii fi loltoota ifii mara Haroshet-Hagoyiim irraa gara laga Kiishonii wolitti qabe.

¹⁴ Achiin duuba Deboraan Baaraaqiin, «Mootiin Waan Maraa adha Siiseraa harka keetitti dabarsee waan kennuuf, ka'i! Mootiin Waan Mara si'iin dura hin deema» jetteen. Maarre Baaraaqi loltoota kuma kudhan woliin gaara Taaborii irraa gad bu'e.

¹⁵ Akkuma Baaraaqi loltoota ifii woliin jara loleen, Mootiin Waan Maraa Siisera'aa fi loltoota isaa, garreettaa isaa ka fardo'oon harkifamu maralle joonjesse. Siiseraalle garreettaa sibiilaa ifii ka fardo'oon harkifamu irraa bu'ee, miilaan dheete.

¹⁶ Baaraaqi garreettaa sibiilaa ka fardo'oon harkifamuu fi loltoota haga Haroshet-hagoyiimii ari'e. Loltooti Siisera'aa marti shallaaga'aan dhumatee, nami tokkolle hin hanne.

¹⁷ Mootii Hazoorii Yaabiinii fi sanyii Heberii Qenichaa wodhakkaa nageenni waan jiruuf, Siiseraan gara dukaana Yaa'elii niitii Heberii Qenichaa baqate.

¹⁸ Yaa'elille Siiseraa fudhatiisaaf gad baatee, «Gootaa kiyya koy; gara dukaani tiyyaa seen; hin sodaatin» jetteen. Inni yennaa seene, isiille golla'aan duubatti isa dhossite.

¹⁹ Inni isi'iin, «Ani waan dheebodheeruuf, maganne'e bisaan unu naaf kenni» jedhe; isiin aanannoo buqqittee, waan inni unu kennitee, deebittee isa dhossite.

²⁰ Achiin duuba inni isi'iin, «Seensuma dukaani'ii dura dhaabbadhu; eenulle dhufee, «Nami as jiraa?» jedhee yoo si gaafate «Hin jiru» jedhiin» jedhe.

²¹ Siiseraan guddoo waan dadhabeeruuf hirriiba hamaa keessa jiraayyu; achiin duuba Yaa'eliin niitiin Heberii burrisaa fi togaa dukaanaa fudhattee,

laana gara isaa dhaxxee, guunaa gurra isaatitti dhoottee lafatti fullaache; innile du'e.

²² Baaraaqi Siiseraa ari'aa yennaa dhufe, Yaa'el isa fudhatiisaaf gad baatee, «Asi koy! Nama ati barbaaddu si'itti mudhisa» jetteen. Maarre inni isii woliin gara keessaa yennaa seene, togaan dunkaanaa guunaa gurra Siisera'aatitti dangaramee, du'ee ciiseeruun dhagge.

²³ Waaqi guyyaa san mootiin Kana'aanii Yaabiin Israa'eloota akka injifatu godhe.

²⁴ Israa'elooti mootii Kana'aanii Yaabiin ijjumaa haga balleessanutti ituma jabaatane.

5

Faaruu Debora'aatii Fi Baaraaqii

¹ Guyyaa san Debora'aa fi ilmi Abiino'aamii Baaraaqi faaruu asii gad jirtu faarfatanee,

² «Sooressitooti Israa'eloota waan sooressaneef,
kolbaalle fedhii ifitiin
duuliisaaf waan murteeffatteef
Mootii Waan Maraa galateeffadha'a!

³ «Isin Mootoleen, dhage'a'a!
Isin sooreyyiin, caqasa'a!
Ani Mootii Waan Maraatiif hin faarsa!
Mootii Waan Maraa
Waaqa Israa'elii hin leellifadha.

⁴ «Ee Mootii Waan Maraa,
yennaa ati gaara Se'iirri irraa kaate,
yennaa ati biyya Edoomii keessa deente
latti tachootee,
ol-gubbaan bisaan dhangalaatte;
duumensille bokkeya roobisiise.

⁵ Gaaroti Mootii Waan Maraa
Waaqa Siina'aa duratti,
fuula Mootii Waan Maraa
Waaqa Israa'elii duratti tacho'ane.

⁶ «Bara Shamgaarii ilma Anaatii,
bara Yaa'elii
karaan guddaan one;
worri karaa deemulle
karaa miliffataatiin deemaniyyu.

⁷ Haga guyyaa ani Deboraan
Israa'eliif akka haadhaa te'ee ka'etti,
qachaan Israa'elii oneera.

⁸ Achiin duuba Israa'elooti
waaqota dur hin beenne yennaa filatane,
lalli gara karra qacha'aa dhufe;
Israa'eloota kuma afurtama oddu'utti,
wonteen yookiin eboon hin dhagganne.

⁹ Gadhaan kiyya
dura aantota worra woraanaa ka Israa'elii,
ka fedhii ifitiin duuliisaaf murteeffate bira jira.
Mootii Waan Maraa leellisaa'a!

- 10 «Isin worri harree adaadii irraa teettanu,
 worri gilaasii seefante irra teettanu,
 worri karaa irralle deddeentanu,
 marroo waan kanaa hima'a.
- 11 Qeexala worra heddu'uu
 ka adaala boolla bisaaniitii dhage'amu dhage'a'a;
 qeexalli sun injifachaa Mootii Waan Maraa,
 injifachaa kolbaa Israa'eliille hima.
- «Achiin duuba kolbaan Mootii Waan Maraa
 gara karra qacha'aa gad buute.
- 12 Debora'a, ka'i, Ka'i!
 Ka'i, ka'iitii faarfadhu!
 Baaraaqii ilma Abiino'aamii,
 atille ka'i!
 Worra boojite qabadhuu deemi.
- 13 «Achiin duuba worri hafe
 gara qondaaltotaa gad bu'ane.
 Kolbaan Mootii Waan Maraa marroo tiyyaaf
 worra hunnaameyyii loliisaaf dhutte.
- 14 Worri dhufelle, sanyii Efreemii keessaa gariin
 addee dur worri Amaaleqootaa le'u irraa dhufane.
 Worri dhibiille sanyii Beniyaamii keessaa dhufane.
- Sanyii Maakiirii keessaa
 dura aantoti worra woraanaa,
 sanyii Zebuloon keessaa
 worri ulee bokku'uu qabatu dhufane.
- 15 Soorressitooti sanyii Yisaakorii
 Debora'a waliin dhufane;
 Baaraaqille sanyii Yisaakorii waliin dhufee,
 gara dhooqaa isa gula ori'e.
- Sanyiin Ruubenii yennaa dheertuu itti yaadane
 murteeffatiisa hin dandeenne.
- 16 Maaf odduu gooree hoole'ee teettane?
 Madha hoole'ee dhage'iisaafii?
- Eeti'i, sanyiin Ruubenii yennaa dheertuu itti yaadane
 murteeffatiisa hin dandeenne.
- 17 Sanyiin Giil'aad laga Yordaanosii irraa
 gara aduun baatutti turte;
 sanyiin Daanii maaf hoboloo guddittii keessa turte?
- Sanyiin Asheerii qarqara abbaaya'aa,
 addee buufata hobolo'oo turte.
- 18 Sanyiin Zebuloonii du'aaf ifi dabarsitee kennite.
 Sanyiin Niftaalemille
 koobota woraanaa irratti akkasuma goote.
- 19 «Moototi dhufanee lolane;
 yennaa san mootota Kana'aanii
 qachaa Ta'ana'aatitti
 bisaan Megidoo biratti lolane
 ammoo meetii takkaalle,
 waan dhibiille hin saanne.
- 20 Urjooti ol-gubbaa irra,

- daandii ifii irra deemaa Siiseraa lolte.
 21 Lagi Qiisonii ka durii durii sun,
 isaan haree dabare.
 Lubbuu tiyya,
 jabaadhuu deem!
 22 Fardoon Kotte'een hididditte;
 gulufaa gulufaa
 gara fardoo jajjaba Siisaara'aa dhaxxe.
 23 Ergamaan Mootii Waan Maraa,
 «Qachaa Merozii abaara'a!
 Worri qachaa san keessa le'u,
 Worra hunnaameyyii loliisaan,
 Mootii Waan Maraa qarqaariisaaf
 waan hin dhufiniif, akka malee abaara'a» jedhe.
- 24 «Niitiin Heberii Qenichaa Yaa'el,
 dubartoota mara caalaa
 ta hiree dansaa qaddu teetuu ti;
 dubartoota dunkaanii keessa leetu caalaa
 ta hiree dansaa qaddu teetuu ti.
 25 Siiseraan, bisaan kadhate;
 isiin ammoo aanan isaaf kennite;
 qodaa goottole'eetitti itittuu dhikeessiteef.
 26 Isiin harka tokkoon
 togaa dunkaanaa qabattee,
 harka middaatiin
 burrisa hojjattootaa qabattee,
 Siiseraa dhoottee mataa butuchitee,
 shikaala san guunaa gurra isaatitti dhoottee
 jalaa fullaache.
 27 Inni laafee,
 miila isi'ii jalatti jige;
 Adduma jige sanitti du'e.
- 28 «Haati Siisera'aa
 karaa foddaa manaatiin gad ilaaltee,
 iyyitee, «Garreettaan fardaan harkifamu
 ka mucaa kiyyaa maaf ture?
 hididdeettiin kottee fardaa
 maaf hin dhage'anne?» jette.
 29 Dubartooti tajaajiltooti isi'ii qarooleen,
 gaaffii isi'iitiif deebii kennane;
 isiin ifumaan ifiin dubbattee,
 30 «Isaan boojuu booji'anee,
 dubartii tokko tokko yookiin lama lama
 loltoota tokko tokkoofuu,
 Siisera'aaf woyaa kuula adda addaatiin seefante,
 morma worra booji'eetiif
 woyaa kuula adda addaatiin seefante
 qoodamiisatti jiranii motii?» jette.
- 31 «Ee Mootii Waan Maraa,
 diinoti keeti marti badanuu ti.
 Worri si jaalatu ammoo,

akka aduun ganamaa akka malee issitu,
 issanuu ti» jette.
 Achiin duuba biyya sanitti woggaa afurtama nageenni te'e.

6

Giidewon

¹ Kolbaan Israa'elii ammalle Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu hujje; tanaaf inni harka worra Miidiyaaniititti dabarsee isaan kenne; isaanille woggaa torba isaan bulchane.

² Hunni worra Miidiyaanii Isrsaa'eloota irratti waan jabaatteef, kolbaan Israa'elii addee dhokaataa godaa fi kushee jadduu gaara irratti qopheeffatte.

³ Yennaa kolbaan Israa'elii midhaan ifii facaafattu mara, worri Miidiyaanii, worri Amaaleqiitii fi worri lafa gara aduun baatuu le'u dhufee isaan lole.

⁴ Isaan lafa sanitti qubatane, midhaan haga adaala Gaaza'aa jiru mara balleessane; horii Israa'elooti ittiin leetu hoolee, loonii fi geejjiba isaanii duudii tokkolle hin lakkinneef.

⁵ Isaan akka tuuta awwaannisaa, hori'ii fi dunkaana ifii woliin waan dhufaneef, namootaa fi gaalota isaanii laakkowiisa hin dandeenne; isaan dhufanee lafa san balleessane.

⁶ Worri Miidiyaanii Israa'elootatti deega buusane; tanaaf Israa'elooti akka isaan qarqaaruuf gara Mootii Waan Maraa iyyite.

⁷ Yennaa Israa'elooti sababa worra Miidiyaaniitiif gara Mootii Waan Maraa iyyite,

⁸ Mootiin Waan Maraa raagaa tokko gara isaanii erge; innille isaaniin, «Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, «Ani biyya Gibxi'ii lafa garbumma'aa keessaa isin baaseera.

⁹ Ani harka worra Gibxi'iitii fi harka worra isin cunqursuu mara jalaa isin baaseera; Kana'aanota isin duraa ari'ee, lafa isaaniille isiniif kenneera.

¹⁰ Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan; waaqota worra Amoorotaa ka lafa keessa leetanuu akka hin sodaanne isinitti himeeraayyu; isin ammoo na hin dhageenne» jedheera» jedhe.

¹¹ Achiin duuba ergamaan Mootii Waan Maraa dhufee, qilxaa ollaa «Ofraa» jedhamu keessa jiru tokko jala tee'e; qilxaan sun ka Yo'aasii sanyii Abii'ezarii ti; yennaa san Giidewon ilmi Yo'aasii worra Miidiyaanii jalaa dhoffatiisaaf, addee woynii itti cunfanutti qamadii dhowatiisatti jiraayyu.

¹² Achitti ergamaan Mootii Waan Maraa isatti mudhatee, «Ee nama jabaa janna! Mootiin Waan Maraa si woliin jira» jedheen.

¹³ Giidewon deebisee, «Ee gootaa kiyya! Mootiin Waan Maraa nu woliin adoo jiraate, wonni kun marti maaf nu dhaqqadde ree? Yennaa Mootiin Waan Maraa biyya Gibxi'ii keessaa isaan baase, bilbaasi inni godhe ta abbootiin teenna nutti hinte meet ree? Amma ammoo, Waaqi nu gatee harka worra Miidiyaaniititti dabarsee nu kenneera» jedheen.

¹⁴ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa gara isaa deebi'ee, «Hunna jadduu teeti tanaan dhaqi! Israa'eloota harka worra Miidiyaanii jalaa akka baattuuf ani si ergaara» jedhe.

¹⁵ Giidewon deebisee, «Ee gootaa kiyya, ani attamiin Israa'el hamburruu dande'a? Firri kiyya fira Minaase'ee keessaa fira diqqa'a; anille maatii tiyya keessaa maandhicha» jedhe.

¹⁶ Mootiin Waan Maraa deebisee, «Ani si woliin waan jiruuf, worra Miidiyaanii duudii akka nama tokkochaa hin butuchita» jedheen.

¹⁷ Giidewonille deebisee Mootiin Waan Maraatiin, «Ani amma si duratti fudhatama yoo dhaggadhe, ka na waliin dubbatiisatti jirtu dhugumaan si akka teete akka mirkaneeffadhuuf beessisa naaf kenni.

¹⁸ Haga ani kennansa fidee sii dhikeessutti, maganne'e asii hin deemin» jedhe.

Mootiin Waan Maraalle, «Haga ati deebitutti hin eega» jedheen.

¹⁹ Maarre Giidewon gara mana ifii dhaqee, buruusoo re'e'ee qalee iffeelee, bullaa kiiloo kudhan fuudhee, daabboo uukoo hin qanne bilcheesse. Inni foon kollonjoo keessa keyee, bisaan foonii okkote'etti naqee, qilxaa jalatti ergamaa Waaqaatiif dhikeesse.

²⁰ Ergamaan Waaqaalle Giidewoniin, «Foonii fi daabboo uukoo hin qanne san rassaa kana irra keyiitii, bisaan foonii itti naqi» jedhe. Giidewonille akkuma inni jedhe godhe.

²¹ Achiin duuba ergamaan Mootii Waan Maraa, qaccee ulee harka ifiititti qabateeruun foonii fi daabboo uukoo hin qanne san tuqe; ibiddi rassaa keessaa bobee'ee, foonii fi daabboo uukoo hin qanne san nyaatee fixe. Achiin duuba ergamaan Mootii Waan Maraa Giidewon biraa deeme.

²² Giidewon ergamaa Mootii Waan Maraa akka dhagge yennaa hubate, «Maalo'o, Gootta'a Mootii Waan Maraa, ani ergamaa keeti dura dhaabbadhee ila tiyyaan waan dhaggeef, naaf aanne'e!» jedhe.

²³ Mootiin Waan Maraa ammoo Giidewoniin, «Nageenni sii te'u! Hin sodaatin; hin duutu» jedhe.

²⁴ Giidewon achitti Mootii Waan Maraatiif addee ciinca'aa ijaaree, «Mootiin Waan Maraa, Mootii Waan Maraa ka Nageyaa ti» jedhee moggaase. Addeen ciinca'aa sun haga adhaalle qachaa «Ofraa» jedhamu ka sanyii Abii'ezerii keessa jirti.

²⁵ Halkan san Mootiin Waan Maraa Giidewoniin, «Korommii abbaa keetiitii fi korommii dhibii ka woggaa torbaa fuudhi; addee ciinca'aa ta abbaan keeti Ba'aaliif ijaare diigiitii, utubaa waaqa dharaa ta, «Asheeraa» jedhantuu, ka cinaa san jiru butuchi jissi.

²⁶ Tuulaa bututa sanii irratti, Mootii Waan Maraa Waaqa keetiif addee ciinca'aa haala sirrii te'een ijaari; achiin duuba korma lammeesso'oo fuudhii qaliitii, qoraan utubaa Asheera'aa ka butuchitee jissite saniin, ciincaa dhi-keessi» jedhe.

²⁷ Maarre Giidewon tajaajiltoota ifii keessaa nama kudhan fuudhee, akkuma Mootiin Waan Maraa isatti hime godhe. Inni guyya'aan tana godhi-isaaf, maatii ifiitii fi worra qachaa sanii guddoo waan sodaateef, halkaniin godhe.

²⁸ Worri qachaa keessaa boruuyyaa barii ganama yennaa ka'e, addeen ciinca'aa ta Ba'aalii diigantee, utubaan waaqa dharaa ta «Asheeraa» jedhantuu bututee, addee ciinca'aaf ijaarante irralle'etti, kormi lammeesso'oo ciinceffameeraayyu.

²⁹ Isaan, «Tana ka godhe eennu?» jedhanee wol gagaafatane; guddoo qorqoraneen duuba tana ka godhe Giidewonii ilma Yo'aasii akka te'e beekane.

³⁰ Achiin duuba isaan Yo'aasiin, «Ilmi keeti addee ciinca'aa ta Ba'aalii diigee, utubaa waaqa dharaa ta, «Asheeraa» jedhantuu, ka addee ciinca'aa bira jiru waan butucheeff, akka ijeennuuf gad nuu baasi!» jedhane.

³¹ Yo'aas ammoo worra isa marsanee dhaabbataneeranu duudi'iin, «Isin Ba'aaliif falmitanii? Yookiin isaaf golii teetanii? Nami isaaf falmu duudiin boru ganama hin ijjeefama. Ba'aal waaqa yoo te'e, nama addee ciinca'aa butuchee jisse san inninuu falmatuu ti!» jedhe.

³² Tanaaf Giidewon addee ciinca'aa ta Ba'aalii butuchee waan jisseef, guyyaa sanii jalqabee, «Yiruub-Ba'aal» jedhamee waamame. Afaan Ib-rootaatiin, «Yiruub-Ba'aal» jechuun, «Ba'aal ifumaafuu falmatuu ti» jechu'u.

Giidewon worra Miidiyaanii Injifate

³³ Achiin duuba worri Miidiyaanii, worri Amaaleqiitii fi worri gara lafa baya adu'uu wolitti qabamee, laga Yordaanosii gamatti bu'ee, dhooqa Yizre'elii keessatti qubate.

³⁴ Ayyaanni Mootii Waan Maraa Giidewon irratti bu'e; innille sanyiin Abii'ezarii akka isa hordottuuf tultullaa afuufe.

³⁵ Inni gosi Minaase'ee duudiin akka isa hordottuuf itti ergee waansise; inni ammalle gosa Asheeriititti, gosa Zebulooniitii fi gosa Niftaalemiititti erge; isaanille Giidewonii fi namoota isaa waliin wol dhaggiisaaf ol bayane.

³⁶ Achiin duuba Giidewon Waaqaan, «Ati akkuma ani Israa'eloota harkuma kiyyaan baasuuf dubbatte,

³⁷ kunoo ani rifeensa hoole'ee ka quxame eeddummee keessa hin keya; boru ganama latti marti goddee, rifeensa hoole'ee ka quxame san qofa irra fixeensi yoo jiraate, ati Israa'eloota harkuma kiyyaan akka baattu ani hin beeka» jedhe.

³⁸ Wonni kunille akkuma inni jedhe teete. Giidewon boruuyyaa ganama ka'ee, rifeensa hoole'ee quxame san yennaa miice, bisaan qorii tokko guutu keessaa baye.

³⁹ Achiin duuba Giidewon Waaqaan, «Ammalle gaaffii tokko si gaafadha, maganne'e natti hin aariin; rifeensi hoole'ee ka quxame sun gogee, lafa duudii irratti fixeensi akka itti bu'u godhi» jedhe.

⁴⁰ Halkan san Waaqi akkuma san godhe. Rifeensi hoole'ee ka quxame sun callaan gogee, lafa duudii irratti fixeensi bu'e.

7

¹ Boruuyyaa ganama Giidewon ka, «Yiruub-Ba'aal» jedhamee fi worri isa waliin jiru marti barii ganama ka'anee, madda Haarodii bira qubatane; worri Miidiyaanii ammoo, addee isaan qubatane irraa gara kaabaatitti, kooba Mooree bira dhooqa keessa qubatane.

² Mootiin Waan Maraa Giidewoniin, «Worra Miidiyaanii harka isaaniititti dabarsee akka hin kennine, worri si waliin jiru heddu'u; Israa'elooti, «Hun-numa teennaan injifanne» jedhanee akka na irratti hin koorre,

³ «Eennulle ka sodaatee sheephisu yoo jiraate, gaara Giil'aadii irraa ka'ee, gara mana ifi deebi'uu ti» jedhii lallabi» jedhe; tanaaf namooti kum diddamii lama gara manaa deebi'anee, namooti kum kudhan achitti hafane.

⁴ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Giidewoniin, «Ammalle namooti si waliin jiranu akka malee heddu'u; isaan gara bisaanii gad geessi; anille achitti gargar siif hin fowa. Nami ani, «Inni si waliin deemuu ti» jedhu, deemuu ti; nami ani, «Inni si waliin hin deemin» jedhu, hin deemin» jedhe.

⁵ Giidewon namoota gara bisaanii geesse; Mootiin Waan Maraalle, «Nama akka sare'ee arraba ifitiin bisaan laccisuu fi nama jilbiiffatee, bisaan unu gargar baasi» jedhe.

⁶ Laakkossi worra ooboo harka ifitiin bisaan unee dhibba sad; worri hafe marti ammoo jilbiiffatee une.

⁷ Mootiin Waan Maraa Giidewoniin, «Namoota dhibba sad, worra ooboo harka ifitiin bisaan uneetiin, ani isin hin baasa; worra Miidiyaanii harka keessanitti dabarsee hin kenna; worri hafe marti gara mana ifi deebi'uu ti» jedhe.

⁸ Tanaaf Giidewon, galaa isaaniitii fi tultullaa isaanii irraa fuudhee gara mana isaanii isaan deebise; namoota dhibba sad san ammoo, ifi biratti hamburate; yennaa san worri Miidiyaanii isaaniiin jala dhooqa keessatti qubateeraayyu.

⁹ Halkanuma san Mootiin Waan Maraa Giidewoniin, «Ani worra Miidiyaanii harka keetitti dabarsee waan kennuuf, ka'iitii quttuma isaanii san loli.

¹⁰ Loliisa yoo sodaatte ammoo, tajaajilaa keeti Phuraa woliin gara quttumaa gad bu'i.

¹¹ Ati waan isaan jedhanu dhageetteen duuba, quttuma san loliisaaf jajjabeenna hin dhaggatta» jedhe. Achiin duuba Giidewon tajaajilaa ifi Phuraa woliin, gara qarqara quttuma sanii gad dhaqane.

¹² Worri Miidiyaanii, worri Amaaleqiitii fi kolbaan gara lafa baya adu'uu marti, akka heechaa awwaannisaa heddatanee, dhooqa keessa qubata-neeraniyyu; bacinni gaalota isaaniille akka maansa qarqara abbaaya'aa ka hin laakkowannee ti.

¹³ Yennaa Giidewon achi geye, nami tokko oojjuu oojjate takka, jaala ifiititti himiisatti jiraayyu. Inni, «Ani oojju'uun daabboon garbu'uu gara quttuma keennaa konkolaattee, gara dunkaanaa dhuttee dhoottee garagalchite; dunkaaniille jidde» jedhe.

¹⁴ Jaalli isaa deebisee, «Hiikkaan oojjuu tanaa shallaagaa Giidewonii ilma Yo'aasii nama Israa'elii ti malee, waan dhibi'itti hin hiikantu; Waaqi worra Miidiyaaniitii fi loltoota isaanii duudii harka isaatitti dabarsee kenneera» jedhe.

¹⁵ Giidewon oojju'uu fi hiikkaa isi'ii yennaa dhage'e, jilbiiffatee Mootii Waan Maraatiif sagade. Achiin duuba gara quttuma Israa'elootaa deebi'ee, «Loltoota worra Miidiyaanii, Mootiin Waan Maraa harka keessanitti dabarsee waan kenneef, ka'a'a!» jedheen.

¹⁶ Inni namoota dhibba sad san golii saditti qoodee, tultulla'aa fi okkotee duwwaa xassaa ifi keessaa qaddu, tokko tokkoo isaaniitiif kenne.

¹⁷ Inni isaaniiin, «Na ilaala'aatii, waan ani godhu godha'a; yennaa ani qarqara quttumaa gewu, akkuma ani godhu isinille godha'a.

¹⁸ Anii fi worri na woliin jiru tultullaa yennaa afuunnu, isinille adaala quttumaa maratti afuufaa, «Mootii Waan Maraatiif fi Giidewoniif lola'a!» jedha'aatii iyya'a» jedhe.

¹⁹ Giidewonii fi namooti dhibbi tokko worri isa woliin jiru, halkan wodhakka'aan dura, worri eeddootaa ka halkan kutaa lammeesso'oo keessa eegu, jijjiiramaneen duuba dhufane; isaan tultullaa afuufanee, okkotoota harkatti qabataneeranu caccassane.

²⁰ Maarre goliin sadiinuu tultullaa ifi afuuttee, okkotee san caccassitee, harka ifi bitaachatti xassaa, harka ifi middichatti tultullaa qabatee, «Mootii Waan Maraatiif fi Giidewoniif hin lolla» jedhaa iyyite.

²¹ Nami tokko tokkonuu adaala quttumaa maratti addee qabatee waan dhaabbateef, worri Miidiyaanii ka quttuma keessaa marti iyyaa iyyaa baqatane.

²² Namooti Giidewonii dhibbi sadiin sun tultullaa ifi yennaa afuufane, Mootiin Waan Maraa loltooti Miidiyaanii shallaaga'aan akka wolitti ka'anu godhe; isaan shallaaga'aan wol lolanee, gara qachaa Zereera'aatitti fuula galane gara qachaa Bet-shitaahititti, achille'een haga meessaa qachaa Abeel-meholaa ka Xabaat bira jiruutitti baqatane.

²³ Israa'elootille gosa Niftaalemii, gosa Asheeriitii fi gosa Minaase'ee duudii keessaa waamamane, worra Miidiyaanii ari'ane.

²⁴ Giidewon worra biyya koobittii Efreemii gubbaa le'u maratti namoota ergee, «Gara worra Miidiyaanii gad bu'a'atii isaan lola'aatii, laga Yordaanosii haga Bet-baraatii adoo isaan hin qabatin dura qabadha'a» jedhe. Tanaaf namooti Efreemii marti waamamanee, laga Yordaanosii haga Bet-bara'aatitti qabatane.

²⁵ Isaan sooreyyii Miidiyaanii lamaan, Oreebii fi Ze'eeb booji'anee, Oreeb addee rassaa maqaa isaatiin, «Oreeb» jedhamee moggaafametti, Ze'eebille addee Cunfaa woyni'ii ta maqaa isaatiin, «Ze'eeb» jedhantee moggaafantetti ijjeesane; mataa Oreebiitii fi mataa Ze'eebii kutanee, gara Giidewonii, ka laga Yordaanosiitiin gama gara lafa baya adu'uu jirutti geessane.

8

Injifatama Worra Miidiyaanii Ka Muumme'ee

¹ Achiin duuba kolbaan Efreemii Giidewoniin, «Ati worra Miidiyaanii loliisaaf yennaa baate, maaf nu waamuu dhadde? Maaf akkas nu goote?» jedhane guddoo isa komatane.

² Inni ammoo isaaniin, «Ani ka huje irra, ka isin hujjane hin caaluu ree? Woxoon midhaan woyni'ii ka sanyiin Efreemii qocce, ka sanyiin Abii'ezarii qoccee galchite mara hin caalaa motii ree?

³ Waaqi sooreyyii gugurdoo worra Miidiyaanii lamaan, Oreebii fi Ze'eeb harka keessanitti dabarsee kenneera. Ani ammoo haga isin hujjane kana maan huje ree?» jedhe. Inni yennaa tana isaaniin jedhe, aarii caffatane.

⁴ Giidewonii fi namooti dhibbi sad isa woliin jiranu, gara laga Yordaanosii dhufanee gamatti bu'ane; isaan dadhabanulle diinota ari'iisa hin lakkinne.

⁵ Qachaa Suukootii yennaa geyane Giidewon namoota qachaa keessa jiranuun, «Namooti na gula yaa'anu kun dadhabaneeran; maganne'e sagalee kenna'aaf; anille mootota Miidiyaanii, Zeba'aa fi Zalmunaa ari'iisatti jira» jedhe.

⁶ Qondaaltoti Suukootii ammoo, «Ati haga ammaa Zeba'aa fi Zalmunaa hin boojine, nuuti maaf sagalee loltoota keetiif kennina ree?» jedhane.

⁷ Maarre Giidewon, «Dansa'a! Mootiin Waan Maraa yennaa Zeba'aa fi Zalmunaa harka kiyyatti dabarsee kenne, qore'ee fi qumi'uuduu goomole'eetiin nafa keessan babbassa» jedhe.

⁸ Achiin ka'ee Giidewon gara qachaa Pheeni'elii dhagee, gaaffuma san isaan gaafate; namooti qachaa Pheeni'eliille deebuma kolbaan Suukootii deebitte deebisane.

⁹ Maarre Giidewon kolbaa Pheeni'eliitiin, «Injifacha'aan yennaa deebi'u, xelleephoo qachaa keessan ittiin eegattanu tana hin diiga» jedhe.

¹⁰ Yennaa san Zeba'aa fi Zalmunaan loltoota ifii woliin qachaa Qarqorii keessa jiraniyyu. Loltooti kum dhibba tokkoo fi kum diddam waan ijjeefamaneef, loltoota kolbaa gara lafa baya adu'uu mara keessaa, loltoota gara kuma kudhanii shaniititti hafe.

¹¹ Maarre Giidewon karaa worri hori'iin godaanu, ka Noba'aa fi Yogbehaa irraa gara baya adu'uu jiruu dhagee, loltoota dedhuma jiranu san lole.

¹² Moototi worra Miidiyaanii lamaanuu Zeba'aa fi Zalmunaan baqatane; Giidewon ammoo isaan ari'ee booji'e; loltoota isaaniille mara bararasse.

¹³ Giidewon ilmi Yo'aasii karaa Haaresitti dabaruun lola irraa yennaa deebi'e,

¹⁴ namoota Suukootii keessaa dargaggeessa tokko qabee, qorqore; dargaggeessille maqaa qondaaltotaatii fi jaarsolee qachaa Suukootii torbaatamii fi torba barreesseef.

¹⁵ Achiin duuba Giidewon gara kolbaa qachaa Suukootii dhagee, «Zeba'aa fi Zalmunaan ka isin marroo isaaniitiif, «Ati haga ammaa Zeba'aa fi Zalmunaa hin boojine, nuuti loltoota dadhaddeef maaf sagalee kennina ree?» jedhaa natti murgitanu, kunoo ti» jedheen.

¹⁶ Saniin duuba inni, jaarsolee qachaa Suukootii fuudhee, qore'ee fi qumi'uudu'uun babbassee adabiisaan, kolbaa Suukootii barsiise.

¹⁷ Inni xelleephoo qachaa Pheeni'eliille diigee, namoota qachaa san keessa jiranulle ijjeese.

¹⁸ Achiin duuba Giidewon Zeba'aa fi Zalmunaanin, «Isin namoota attamii Taaboritti ijeettane?» jedhee isaan gaafate.

Isaan deebisane, «Isaan si fakkaatan; tokko tokkoon isaaniituu ilmaan mooti'ii fakkaatan» jedhaneen.

¹⁹ Giidewon deebisee, «Isaan obboleeyyan tiyya, ilmaan haadha tiyyaa ti; dhugaa Mootii Waan Maraa ka jiraataa te'ee, adoo isin isaan ijjeesuu dhaddanee jiraattane, anille isin hin ijjeesuuyyu» isaaniin jedhe.

²⁰ Achiin duuba inni Yeterii ilma ifii angafichaan, «Ka'iitii jara tana ijjeesi!» jedhe. Yeter ammoo mucaa diqqaa waan te'eef sodaatee, shallaagaa ifii hin buqqifanne.

²¹ Achiin duuba Zeba'aa fi Zalmunaan, «Jabeenni namaa haguma abbichaa ti; tanaaf atinuu ka'iitii nu ijjeesi» jennaan, Giidewon ka'ee isaan ijjeesee, meya seesaa ka morma gaala isaanii irra jiru fudhate.

²² Saniin duuba Israa'elooti Giidewoniin, «Harka worra Miidiyaanii jalaa waan nu baatteef, ati, ilmi keetii fi ilmi ilma keetii bulchitoota teenna te'a'a» jedhane.

²³ Giidewon deebisee, «Mootiin Waan Maraa isin bulchuu ti malee, ani isin hin bulchu; ilmi kiyyalle isin hin bulchu» jedhe.

²⁴ Inni ammalle isaaniin, «Ani waan isin gaafadhu tokko qaba; tokko tokkoon keessan waan boojitane keessaa qubee worqi'ii ta gurraa naaf kenna'a» jedhe; qubee worqi'ii ta gurraa gurratti keyatiis aadaa worra Ishimaa'elootaa ti.

²⁵ Isaanille deebisane, «Gammadaan siif hin kennina» jedhane, woyaa ifii lafatti afanee, tokko tokkoon isaaniituu waan booji'ane keessaa, qubee worqi'ii ta gurraa achi irra keyane.

²⁶ Qubeen worqi'ii ta gurraa ta Giidewon fudhate sun, seesa dhibii, seesa mormaa ka adda addaa, woyaa dhiillee moototi Miidiyaanii uffattu, akka-suma seesa morma gaalaatitti dirame adoo itti hin dabaln, gara kiiloo diddamaa ti.

²⁷ Giidewon worqii san irraa woyaa hayyumma'aa ta qomaa hujee, qachaa ifii ka «Ofraa» jedhamu keessa keye. Israa'elooti martinuu Waaqaaf addatamuu dhabanee, woyaa hayyumma'aa ta qomaa san waaqonfatane; wonni kunille Giidewonii fi maatii isaatiif tiyyoo teete.

²⁸ Maarre worri Miidiyaanii worra Israa'elootaatiin injifatamane; deebi'aneelle mataa ol hin qabanne; bara Giidewonii keessa woggaa afurtama latti nageya dhagatte.

Du'a Giidewonii

²⁹ Giidewon ilmi Yo'aasii gara mana ifii deebi'ee, achi le'e.

³⁰ Inni niitota hedduu waan qabuuf, ilmaan torbaatama qabaayyu.

³¹ Gursumeettiin isaa ta Sheekem keessa leetu takkalle, ilma deetteef; innille maqaa isaa «Abiimelek» jedhee baase.

³² Giidewon ilmi Yo'aasii guddatee dulloomee du'ee, qachaa Ofra'aa ka sanyii Abii'ezerii keessatti, addee awwaala abbaa ifii keessatti awwaalame.

³³ Akkuma Giidewon du'een, kolbaan Israa'elii Waaqaaf addatamuu dhaddee Ba'aal Waaqa dharaa waaqonfattee, Ba'aal-beriiti Waaqa ifii godhatte.

³⁴ Israa'elooti Mootii Waan Maraa Waaqa ifii, ka diinota adaala isaanii jiranu duudii jalaa isaan baase dedhane.

³⁵ Akkasuma isaan waan dansaa Giidewon ka «Yiruub-Ba'aal» jedhame, kolbaa Israa'eliitiif godhe maraaf, maatii isaatiif nama galataa hin teene.

9

Abiimelek

¹ Ilmi Giidewonii Abiimelek gara qachaa Sheekemii, addee firri haadha isaa duudiin keessa le'u dhaqee, isaaniin

² «Worra qachaa Sheekemii keessa le'u duudi'iin, «Ilmaan Giidewonii torbaatam marti, isin bulchitu woyya moo nami tokko callaan isin bulchu woyyaa?» jedha'aatii gaafadha'a. Ani dhiigaa fi foon keessan akka te'elle qaabadha'a» jedheen.

³ Firri haadha isaa marroo Abiimelekiitiif, namoota qachaa Sheekemiititti dubbatane; namooti Sheekemille, «Inni obboleessa» jedhanee, isa hordofisaaf murteeffatane.

⁴ Isaan galma Ba'aal-beriitii keessaa, meetii torbaatama fuudhanee isaa kennane; Abiimelekille namoota siyyaayye'ee fi boru-hinbeennee qaxaratee akka isa gula deemanu godhe.

⁵ Inni gara mana abbaa ifii ka qachaa Ofra'aa keessaa dhaqee, ilmaan Giidewonii, obboleeyyan ifii torbaatama dhakaa tokkocha irratti ijjeese; ilmi Giidewonii maandhichi Yotaam ammoo waan dhokateef hafe.

⁶ Achiin duuba namooti Sheekemiitii fi Bet-Miilo'oo marti wolitti qabamane, qilxaa Sheekem keessa ka utubaa dhaka'aa bira jirutti, Abiimelek mootii godhatane.

⁷ Yotaam yennaa waan kana dhage'e, qaccee gaara Geriiziimiititti ol bayee, «Isin worra Sheekemii, na caqasa'a! Waaqille isin hin caqasa.

⁸ Gaafa tokko mukooti wolitti qabamane mootii ifi irratti moosifatiisaaf bayanee, muka ejersaatiin, «Nu irratti mootii te'i» jedhane.

⁹ Muki ejersaa deebisee, «Isin bulchiisaaf jedhee, zayitii tiyya ta waaqotii fi namooti ulfinna ittiin dhaggatanu kennuu lakkisa ree?» jedhe.

¹⁰ Achiin duuba mukooti muka harru'uutiin, «Koyiitii nu irratti mootii te'i» jedhane.

¹¹ Muki harru'uu ammoo deebisee, «Isin bulchiisaaf jedhee, midhaan mi'awa'aa fi dansaa kiyya buusuu lakkisaa ree?» jedhe.

¹² «Achiin duuba mukooti muka woyni'iitiin, «Koyiitii nu irratti mootii te'i» jedhane.

¹³ Muki woyni'ii ammoo deebisee, «Ani isin bulchiisaaf jedhee, midhaan kiyya ka daadhii woyni'iin te'ee waaqotaa fi namoota gammachiisu buusuu lakkisaa ree?» jedhe.

¹⁴ Maarre mukooti duudiin tusee qore'eetiin, «Koyiitii nu irratti mootii te'i» jedhane.

¹⁵ Tuseen qore'eelle mukootaan, «Dhugumaan yoo mootii keessan na godhatiisa barbaaddane, kowa'aatii gaaddisa kiyya jalatti qubadha'a. Yoo tana hin godhin, ibiddi dameelee qore'ee tiyya keessaa bayee, hindheensa Libaanosii gubuu ti» jette.

¹⁶ «Tanaaf amma, Abiimelek yennaa mootii gootane qajeelumma'aa fi dhuga'aan yoo te'e, akkuma Giidewon* isiniif godhe, isinille isaa fi maatii isaatiif waan dansaa yoo gootanee jiraattane,

¹⁷ abbaan kiyya isiniif lolee, harka worra Miidiyaanii jalaa isin baasiisaaf, jiruu ifii dabarsee akka kenne qaabadha'a.

¹⁸ Adha ammoo isin maatii abbaa kiyyaa irratti kaatanee, ilmaan isaa torbaatama dhakaa tokkocha irratti fixxanee, Abiimelek ka garbittii irraa dhalate obboleessa keessan waan te'eef, worra Sheekemii irratti mootii gootane.

¹⁹ Amma yoonaa, wonni isin Giidewonii fi maatii isaatiif gootane, qajeelumma'aa fi dhuga'aan yoo teete, Abiimelekitti gammada'a; innille isinitti gammaduu ti.

²⁰ Yoo tun hin te'in ammoo, Abiimelek irraa ibiddi ka'ee, worra Sheekemii fi worra Bet-Miilo'oo gubee fixuu ti; akkasuma ibiddi worra Sheekemiitii fi worra Bet-Miilo'oo irraa ka'ee, Abiimelek gubee fixuu ti» jedhe.

²¹ Achiin duuba Yotaam obboleessa ifii Abiimelek waan sodaateef gara qachaa «Be'eer» jedhamuu baqatee achi le'e.

Abiimelekii Fi Namoota Sheekemii

²² Abiimelek haga woggaa sadii Israa'eloota bulche.

²³ Achiin duuba Waaqi, ayyaana hamaa ka Abiimelekii fi worra Sheekemii wolitti kaasuu erge; worri Sheekemiille Abiimelek irratti ka'e.

²⁴ Marroo dhiiga ilmaan Giidewonii torbaatamaa, ka dhangala'ee, Abiimelekii obboleeyyan ifii ijjeesee fi akka inni obboleeyyan ifii ijjeesu ka isa jajjabeesse, worra Sheekemii haluu bayiisaaf Waaqi tana godhe.

²⁵ Tanaaf worri Sheekemii Abiimelek irratti ka'ee, qaccee gaaraa irratti namoota riphanees isa eegannu keyanee, namooti sun worra karaa san taru duudii saamane. Abiimelekille waan kana mara dhage'e.

²⁶ Achiin duuba ilmi Ebeedii Ga'aal obboleeyyan ifii waliin gara qachaa Sheekemii dhufe; worri Sheekemiille isatti addii godhatane.

²⁷ Isaan duudiin gara fichaa woynii ifii dhaqanee, midhaan woynii guurratanee daadhii woynii cunfanee jila jilifatane. Achiin duuba isaan gara galma waaqa ifii seenanee nyaatanee unanee Abiimelek abaarane.

²⁸ Ilmi Ebeedii Ga'aal, «Nuuti worri sheekemii ka isa tajaajillu, Abiimelek eennu inni? Inni ilma Giidewonii, Zebulille ajajaan isaa gadii, namoota sanyii Hamoorii abbaa Sheekemii worra tajaajilanees motii? Nuuti maaf isa tajaajilla ree?

²⁹ Kolbaa tana ka sooressu adoo na te'e Abiimelekiin, «Loltoota teeti mara waammadhuutii, bayii loli» jedhee, barcumaa isaa irraa isa hin buusaayyu» jedhe.

³⁰ Zebul bulchaan qachaa sanii, waan ilmi Ebeedii Ga'aal jedhe yennaa dhage'e, aaree bobe'e.

³¹ Inni Abiimelekii Arumaa keessa jirutti malaan namoota ergee, «Ilmi Ebeedi Ga'aalii fi obboleeyyan isaa gara qachaa Sheekemii dhufanee, namoota qacha'aa si irratti kakkaasaneeran;

³² Tanaaf amma, atii fi loltooti teeti halkaniin baya'aatii, fichaa keessatti ripha'aa eega'a.

³³ Boru ganama yennaa aduun baatu, qachaa san ariiti'iin ilaala'a. Ga'aalii fi namooti isaa isin loliisaaf yennaa gad bayanu, haga dandeettane lola'a» jedhe.

* **9:16 Giidewon:** Yookiin Yiruub-Ba'aaljedhama.

³⁴ Maarre Abiimelekii fi loltootii isaa duudiin halkaniin ka'anee, golii afuritti qoodamanee, qachaa Sheekemii biratti riphanee eegane.

³⁵ Ilmi Ebeedii Ga'aal bayee, seensuma karra qacha'aa keessa dhaabbateeruun yennaa dhaggane, Abiimelekii fi loltooti isaa addee riphaneeranu bayane.

³⁶ Ga'aal yennaa isaan dhagge, Zebuliin, «Ilaal! Kolbaan qaccee gaaraa irraa gad bu'iisatti jirti» jedhe.

Zebulille isaan, «Gaaddisa gaarota irraatitti kolbaa sitti fakkaate» jedhe.

³⁷ Ammalle Ga'aal, «Ilaal! Kolbaan hidha gaaraa irraa gad bu'iisatti jirti; goliin tokko ammoo, karaa qilxaa worra moruutiin dhufiisatti jirti» jedhe.

³⁸ Achiin duuba Zebul isaan, «Akka isa tajaajilluuf Abiimelek eennu inni?» jettee ka ati bookkitte amma meet ree? Worri ati tuffatte isaan kanaa motii? Amma gad bayiitii isaan woliin loli» jedhe.

³⁹ Maarre Ga'aal worra Sheekemii soressaa gad bayee, Abiimelek woliin lole.

⁴⁰ Abiimelek Ga'aal ari'e; Ga'aalille isa dura dheete; haga seensuma karra qacha'aa bira geyanutti worri hedduun madowanee jigane.

⁴¹ Abiimelek Arumaa keessa le'e; Zebulille Ga'aalii fi obboleeyyan isaa qachaa Sheekemii keessa akka hin leene ari'ee baase.

⁴² Boruuyyaa ganama worri Sheekemii gara fichaa ifii akka dhaqaaranu Abiimelek dhage'ee,

⁴³ loltoota ifii fudhatee, golii saditti qoodee, fichaa keessatti riphee isaan eege. Inni namooti qachaa keessaa bayaaranuun yennaa dhagge, addee riphee ka'ee isaan ijeese.

⁴⁴ Abiimelekii fi goliin isa woliin jirtu, seensuma karra qacha'aa eegiisaaf ariifatane bayanee balbala seensuma karra qacha'aa san dura dhaabbatane; goliin lama hattelle, namoota fichaa keessa jiranu maratti fiigane ijeesane.

⁴⁵ Abiimelek guyyaa guutuu qachaa san lole; inni qachaa san qabatee; kolbaa qachaa san keessa jirtulle ijeese; inni qachaa san diigee, soodda itti facaase.

⁴⁶ Worri xelleephoo qachaa Sheekemii keessaa duudiin, yennaa waan kana dhage'ane, kushee galma Ba'aal-beriitii keessa seenane.

⁴⁷ Abiimelekille akka isaan achitti wolitti qabamane dhage'e.

⁴⁸ Tanaaf inni loltoota isa woliin jirtu mara woliin gara gaara Zaalmonii ol bayee; agaraa fudhatee damee mukaa muree, gormuu ifiititti kaafate. Achiin duuba worra isa gula deemuun, «Ariifadha'aatii waan ani godhuun dhaggitane, isinille ariifadha'aatii akkasuma godha'a» jedhe.

⁴⁹ Maarre nami marti damee mukaa muree, Abiimelek gula deeme; damee mukaa san kushe'etti irkisanee tuulane, namooti adoo kushee san keessa jiranuu ibiddaan gubane; tanaaf worri xelleephoo Sheekemii keessa jiru duudiille, dhiirtii fi dubartooti gara kuma tokkoo du'ane.

⁵⁰ Achiin duuba Abiimelek gara qachaa Tebezii dhaqee, qachaa san marsee qabate.

⁵¹ Qachaa san keessa xelleephon jadduun takka waan jirtuuf, worri qachaa sanii dhiirtii fi dubartiin marti, soressitooti martinuu gara xelleephoo sanii baqatanee seenane; balbalalle gara keessaatiin ifitti cufatanee, xelleephoo irra ol bayane.

⁵² Abiimelek adoo loluu xelleephoo san bira geyee, ibiddaan gubiisaaf gara seensuma xelleephoo sanii dhikaate.

⁵³ Dubartiin takka ammoo, ilmaachuu daaku'uu mataa Abiimelekiititti golaansitee, buqqii mataa isaa buttuchite.

⁵⁴ Yoosuma inni, dargaggeessa meya isaa ka woraanaa ba'ateeru waamee, «Akka kolbaan, «Dubartii takkatti isa ijjeese» akka naan hin jenne, shallaagaa keeti buqqifadhuutii na ijjeesi» jedheen. Tanaaf dargaggeessi shallaaga'aan hordee isa ijjeese.

⁵⁵ Israa'elooti Abiimelek akka du'e yennaa dhaggane, isaan martinuu gara mana ifii deemane.

⁵⁶ Waaqi akka kanaan, yakkaa Abiimelek obboleeyyan ifii torbaatama ijjeesiisaan, abbaa ifii yakkeef gatii isaaf kenne.

⁵⁷ Akkasuma Waaqi hammeenna kolbaa Sheekemiille, mataa isaaniititti deebisee, abaarsi Yotaamii ilma Giidewoniille isaan dhaqqabe.

10

Tola'aa Fi Yaa'iir

¹ Abiimelek du'een duuba, akaakoon Dodoo ilmi Phuwaa Tolaan nami gosa Yisaakorii, ka biyya Efreemii koobittii keessa addee, «Sahaamir» jedhantu le'u, Israa'el bilisa baasiisaaf ka'e.

² Inni woggaa diddamii sad Israa'eloota bulche; achiin duuba du'ee Shaamiiritti awwaalame.

Yaa'iir

³ Tolaan du'een duuba Yaa'iir sanyiin Giil'aadii ka'ee, woggaa diddamii lama Israa'eloota bulche.

⁴ Yaa'iir ilmaan soddoma ta harree soddoma irra teettee deentu qabaayyu; isaan lafa Giil'aadii keessatti qachoota soddoma qabaniyyu; qachooti sun haga adhaalle olloota Yaa'iirii jedhamanee waamaman.

⁵ Yaa'iir du'ee addee «Qaamon» jedhantutti awwaalame.

Amoonoti Israa'eloota Cunqursane

⁶ Israa'elooti ammalle, waaqota Ba'aaliitii fi Ashitaarotii, waaqota Aaramii, waaqota Sidoonii, waaqota Mo'aabii, waaqota Amoonotaatii fi Filisxeemotaa waaqonfatiisaan, Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu hujanee, isa waaqonfatiisa lakkisane.

⁷ Tanaaf Mootiin Waan Maraa Israa'elootatti aaree, harka worra Filisxeemotaatii fi Amoonotaatitti dabarsee isaan kenne.

⁸ Worri Amoonotaatii fi Filisxeemotaa, woggaa kudhanii saddeeti, Israa'eloota laga Yordaanosiitiin gama biyya Amoorotaa lafa Giil'aadii keessa le'anuu cunqursane.

⁹ Worri Amoonotaa kolbaa Yihuda'aa, kolbaa Beniyaaminiitii fi kolbaa Efreemii loliisaaf laga Yordaanosii gamatti waan bu'aneef, kolbaan Israa'elii guddoo rakkatte.

¹⁰ Achiin duuba Israa'elooti, «Si Waaqa keenna lakkinnee, waaqa dharaa Ba'aal waaqonfatiisaan si yakchineerra» jedhaa gara Mootii Waan Maraa iyyane.

¹¹ Mootiin Waan Maraa isaaniif deebisee, «Worri Gibxi'ii, worri Amooniitii fi worri Filisxeemotaa,

¹² worri Sidoonii, worri Amaaleqiitii fi worri Maa'onii yennaa isin cunqursane, isin gara kiyya iyyitanee, anille isaan jalaa isin baaseeraayyu.

¹³ Isin ammoo na lakkittanee, waaqota dhibii waaqonfattane; tanaaf ani haganaa achi isin hin baasu.

¹⁴ Dhaqa'aatii, gara waaqota flattanee iyyadha'a; yennaa isin rakkatane isaan isin baasanuu ti» jedhe.

¹⁵ Kolbaan Israa'elii ammoo Mootii Waan Maraa, «Nuuti cubbuu hunyeera; ati waanuma feete nu godhi; adha ammoo maganne'e nu baasi» jedhane.

¹⁶ Maarre isaan waaqota orma odduu ifitii balleessanee, Mootii Waan Maraa waaqonfatane; Mootiin Waan Maraalle rakkinna Israa'elootaa dhaggee guddoo gadde.

¹⁷ Achiin duuba worri Amoonii lolaaf waamamanee, Giil'aad keessatti qubatane; Israa'elootille wolitti qabamanee qachaa Miispha'aa keessa qubatane.

¹⁸ Sooressitooti kolbaa Giil'aadii, «Nami dursee worra Amoonii loliisaa jalqabu, worra Giil'aad keessa le'u mara irratti sooressaa te'uu ti» wol waliin jedhane.

11

Yiftaa

¹ Yiftaan Giil'aadichi, ilmi dubartii sagaagaltittii takkaa, loltuu janna. Abbaan isaalle Giil'aad.

² Haati manaa Giil'aadiille ilmaan deetteetiif; isaan yennaa guddatane obboleessa ifii Yifta'aan, «Ati dubartii dhibii irraa waan dhalatteef, mana abbaa keenaa keessaa waan tokko hin dhaaltu» jedhanee manaa ari'ane.

³ Tanaaf Yiftaan obboleeyyan ifii biraa baqatee, lafa «Xoob» jedhantu keessa le'e. Achitti namooti boru-hinbeenneen isa biratti wolitti qabamanee isa gula deemane.

⁴ Yennaa diqqo'oon duuba, worri Amoonii Israa'eloota lole.

⁵ Yennaa worri Amoonii Israa'eloota lolane, jaarsoleen Giil'aadii Yiftaa biyya Xoobiitii deebisane fidiisaaf dhaqane.

⁶ Isaan Yifta'aan, «Worra Amoonii akka lolluuf, koyiitii ajajaa woraanaa nu'uuf te'i» jedhane.

⁷ Inni ammoo deebisee isaaniin, «Isin na jibbitanee, mana abbaa kiyyaatii na hin ariinee? Amma yennaa rakkattane maaf gara kiyya dhuttan ree?» jedhe.

⁸ Isaan deebisane, «Ati nu waliin duultee worra Amoonii akka loltuuf, nu worra Galii'aad keessa le'u mara irralle'etti sooressa akka teetuuf gara keeti dhunne» jedhane.

⁹ Yoftaan jaarsolee Giil'aadiitiin, «Worra Amoonii loliisaaf isin biyyatti yoo na deebittane, Mootiin Waan Maraalle harka kiyyatti dabarsee yoo isaan kenne, ani sooressaa keessan hin te'aa ree?» jedhe.

¹⁰ Isaan deebisane, «Akkuma ati jette godhiisaaf, Mootiin Waan Maraa ragaa keenaa» jedhane.

¹¹ Maarre Yiftaan jaarsolee Giil'aadii waliin dhagee, kolbaalle sooressaa fi ajajaa woraanaa isa godhatte. Yiftaalle dubbii ifii tana mara fuula Mootii Waan Maraa duratti, qachaa Miispha'atti itti deebi'ee dubbate.

¹² Achiin duuba Yiftaan gara mootii worra Amooniititti namoota ergee, «Ati biyya tiyya keessatti na loliisaaf ka dhutteef, anii fi ati maan wol irraa qanna?» jedhee gaafachiise.

¹³ Mootichi worra Amoonii deebisee ergantoota Yifta'aatiin, «Israa'elooti biyya Gibxiitii yennaa bayane, lafa tiyya laga Aaronii irraa haga laga Yaaboqii, haga laga Yordaanosiille waan fudhatanee, amma nageyaan naaf deebisa'a» jedhe.

¹⁴ Yiftaan ammalle gara mootii worra Amoonii ergantoota ergee,

¹⁵ «Israa'elooti lafa worra Mo'aabii yookiin lafa worra Amoonii hin fudhanne.

¹⁶ Israa'elooti biyya Gibxiitii yennaa bayane, goomolee keessa gara Abbaayaa Diintu'uu dhaqanee, gara Qedeeshii dhufane.

¹⁷ Achiin duuba isaan mooticha Edoomiititti ergantoota erganee, «Lafa teeti keessa akka dabarruuf nuuf eeyyam» jedhane; mootiin Edoomii ammoo didate. Isaan mootii Mo'aabiille'etti ergane; innille dide; tanaaf Israa'elooti Qedeesh turane.

¹⁸ Achiin duuba goomolee keessa deemanee, lafa Edoomiitii fi lafa Mo'aabii irra maranee dhaqanee, lafa Mo'aabii irraa gara aduun baatu geyanee, laga Aarnoniitiin gamatti qubatane; lagi Aarnonii meessaa lafa mo'aabii waan te'eef, isaan lafa mo'aabii dhaqiisaaf laga san gamatti hin buune.

¹⁹ Achiin duuba Israa'elooti, gara Sihoonii mootii Amoorotaa ka qachaa Heshiboonii keessa tee'ee bulchetti ergantoota erganee, «Gara biyya teen-naa, lafa teeti keessa akka dabaru nuuf eeyyam» jedhaneen.

²⁰ Sihoon ammoo akka Israa'elooti lafa isaa keessa dabaranuuf hin addanne; maarre loltoota ifii mara wolitti qabatee, addee «Yaahaz» jedhantutti qabatee isaan lole.

²¹ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa, Waaqi Israa'elii, Sihoonii fi loltoota isaa mara harka Israa'eliititti dabarsee kennee, isaanille isaan injifatane; maarre Israa'el lafa Amoorotaa ka worra achi keessa le'uu mara qabatte.

²² Isaan biyya Amoorotaa duudii, laga Aarnonii irraa haga laga Yaaboqiitii fi goomolee irra haga laga Yordaanosiititti qabatane.

²³ Eega Mootiin Waan Maraa, Waaqi Israa'elii worra Amoorotaa kolbaa ifii duraa ari'ee baase, ati amma ariitee isaan baasuu feetaa ree?

²⁴ Ati lafa waaqi keeti Kemoshi siif kenne qabatee hin teettuu ree? Nuutille lafa Mootiin Waan Maraa Waaqi keenna nu'uuf kenne mara qabannee hin leena.

²⁵ Ati amma mootii Mo'aabii, ilma Ziphoorii, Baalaaq hin caaltaa ree? Inni Israa'eloota waliin wol dhabeeraa? Yookiin isaan waliin wol loleeraa?

²⁶ Israa'elooti qachaa Heshibooniitii fi ollaa qachaa sanii mara, qachaa Aro'eriitii fi ollaa qachaa sanii mara, qachoota qarqara Aarnonii jiru mara keessalle woggaa dhibba sad le'aneeraniyyu; isin yennaa san keessa qachoota san deebittanee maaf fudhatuu dhaddane ree?

²⁷ Ani si hin yakkine; ati ammoo woraana natti kaasiisaan na yakkiteerta. Mootiin Waan Maraa abbaan mura'aa, Israa'elootaaf yookiin worra Amooniitiif adha muruu ti» jedhe.

²⁸ Mootiin worra Amoonii ammoo ergaa Yiftaan itti erge san woyittuu hin laakkonne.

²⁹ Achiin duuba Ayyaanni Mootii Waan Maraa Yiftaa irratti bu'e; Yiftaalle biyya Giil'aadiitii fi biyya Minaase'ee keessa qaxxaamuree, qachaa Miisphaa biyya Giil'aadii keessa dabaree worra Amoonii lole.

³⁰ Yiftaan Mootii Waan Maraatiif waadaa galee, «Worra Amoonii harka kiyatti dabarsitee yoo kennitte,

³¹ ani yennaa worra Amoonii injifadhee deebi'ee dhufu, na fudhatiisaaf nama mana kiyaa keessaa dursee gad bawu si Mootii Waan Maraatiif hin kenna; ciincaalle godhee siif hin dhikeessa» jedhe.

³² Achiin duuba Yiftaan worra Amoonii loliisaaf lagaan gamatti bu'ee deeme; Mootiin Waan Maraalle isaan harka isaatitti dabarsee kenne.

³³ Yiftaan qachaa Aro'erii irraa jalqabee haga adaala Miiniitii fi haga qachaa Abeel-Karamiimitti qachoota diddama balleesse; maarre worri Amoonii harka Israa'elootaa jala galane.

³⁴ Yiftaan gara mana ifii Miispha'atti yennaa deebi'e, intalti isaa dibbee fudhattee sirbaa, isa fudhatiisaaf gad baate; isiin isaaf intala takkaa qofa; inni isii malee ilma yookiin intala dhibii hin qabuuyyu.

³⁵ Yennaa isii dhaggelle gaddee woyaa ifii tarsaasee, «Hayii intala tiyya! Guddoo na gaddisiittee, na laaleffachiitte; Mootii Waan Maraatiif waadaa waan galeef, waadaa gale san diiguu hin dande'u» jedhe.

³⁶ Isiille, «Abbaa kiyya! Mootiin Waan Maraa diinota keeti worra Amoonii haluu waan si'iif bayeef, waan waadaa galte na irratti muummesse» jette.

³⁷ Isiin ammalle abbaa ifitiin, «Waan tokko callaa naaf eeyyam: Ani ijumaa waan hin heeruminiif, dhagee gaara irratti hari'oota tiyya woliin asii fi achi deddeebi'ee, durrummaa tiyyaaf akka bowu ji'a lama naaf kenni» jette.

³⁸ Innille, «Dhaqi» jedhee, ji'a lamaaf isii erge. Isi'ii fi hari'ooti isi'ii, isiin waan ijumaa hin heeruminiif durrummaa isi'iitiif gaara irratti bowane.

³⁹ Ji'a lamaan duuba gara abbaa ifii deebitee dhutte; innille waadaa Mootii Waan Maraatiif gale isii irratti muummesse; isiin durra duuddu'u.

Guyyaa saniin jalqabee tun Israa'el keessatti aadaa teetee,

⁴⁰ durri Israa'elii wogguma wogga'aan bayanee, guyyaa afuriif intala Yiftaa Giil'aadichaatiif gaddan.

12

Yifta'aa Fi Worra Efreemii

¹ Worri Efreemii loltoota ifii waammatanee, gara qachaa Zaafoonii gamatti bu'anee, Yifta'aan, «Akka nuuti si woliin deennu adoo nu hin waamin, ati worra Amoonii loliisaaf maaf dhaxxe? Adoo ati keessa jirtuu, nuuti mana keeti ibiddaan si irratti hin gunna» jedhane.

² Yiftaan ammoo isaaniin, «Anii fi kolbaan tiyya, worra Amoonii woliin akka malee yennaa wol lolle, ani isin waameeraayyu; isin ammoo harka isaanii jalaa na hin baanne.

³ Akka isin na baasaa hin jirre yennaa dhagge, lubbuu tiyya adoo hin mararfatin isaan loliisaaf meessaa qaxxaamuree dhage; Mootiin Waan Maraalle harka kiyyatti isaan dabarsee kenne; maarre isin adha maaf na loliisaaf dhuttane ree?» jedhe.

⁴ Achiin duuba Yiftaan worra Giil'aadii duudii wolitti qabatee, worra Efreemii lole; worri Efreemii worra Giil'aadiitiin, «Isin worri Giil'aadii, worra Efreemii irraa baqattanee, wodhakkaa worra Efreemiitii fi Minaase'ee leetan» waan jedhaneef, isaan lolane.

⁵ Worri Giil'aadii malkaa laga Yordaanosii ka worri Efreemii bu'u duudii qabate. Worra Efreemii keessaa nami baqatu tokko «Gamatti bu'a» jedhee yoo gaafate, worri Giil'aadii, «Ati sanyii Efreemiitii?» jedhane isa gaafatan; inni, «Waawwo'ol!» yoo jedhe,

⁶ isaan, «Shibolet» jedhi jedhaniin. Inni sirreessee jecha kana jedhiisa waan hin dandeenneef, «Sibolet» jedha. Achiin duuba isaan, isa hudhane malkaa laga Yordaanosiititti isa ijeesan; yennaa san worra Efreemii keessaa, namoota kuma afurtamii lamatti ijeefame.

⁷ Yiftaan Giil'aadichi woggaa ja kolbaa Israa'elii bulcheen duuba du'ee, qachaa ifii ka Giil'aad keessaatitti awwaalame.

Ibzaan, Eloonii Fi Abdoon

⁸ Yiftaan du'een duuba, Ibzaan nami Betlihemii Israa'eloota bulche.

⁹ Ibzaan ilmaan soddomaa fi ijoollee durraa soddoma qabaayyu. Inni ijoollee durraa ifii soddoma gosa ormaatitti heerumsiisee, ijoollee durraa

soddoma ta gosa ormaa ilmaan ifii fuusise. Ibzaan woggaa torba kolbaa Israa'elii bulchee,

¹⁰ achiin duuba du'ee, Betlihemitti awwaalame.

¹¹ Ibzaan du'een duuba, Eloon nami sanyii Zebuloonii woggaa kudhan Israa'eloota bulchee,

¹² achiin duuba du'ee, lafa Zebuloonii keessa qachaa Ayaloniititti awwaalame.

¹³ Eloon du'een duuba, nami qachaa Phiiraatonii, ilmi Hiilelii Abdoon Israa'eloota bulche.

¹⁴ Abdoon ilmaan afurtamaa fi akaakota soddoma, ta harree torbaatama irra teettee deentu qabaayyu. Inni woggaa saddeeti kolbaa Israa'elii bulche.

¹⁵ Achiin duuba Abdoon du'ee, biyya koobittii Amaaleqootaa keessatti, lafa Efreemiititti Phiiraaton keessatti awwaalame.

13

Dhalatiisa Samsoonii

¹ Kolbaan Israa'elii ammalle Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu hujje; tanaaf Mootiin Waan Maraa woggaa afurtama akka isaan bulchanuuf, harka worra Filisxeemotaatti dabarsee isaan kenne.

² Bara san sanyii Daanii keessaa nami «Maano'aa» jedhamu, ka qachaa Zora'aa keessa le'u tokko jiraayyu; haati manaa isaa maseena waan teeteef ijoollee hin deenne.

³ Ergamaan Mootii Waan Maraa isi'itti mudhatee, «Ati maseena waan teeteef, ijoollee hin deenne; ammoo ati ulfoottee ilma hin deetta.

⁴ Tanaaf daadhii woyni'ii yookiin waan nama macheessu yookiin waan battii tokkole nyaatiisa irraa ifi eegadhu.

⁵ Ati ulfoottee ilma dhiiraa hin deetta; mucaan sunille guyyaa dhalateen jalqabee Waaqaaf ka adda baye waan te'uuf, rifeensa mataa isaa ijjumaa hin haadin; inni Israa'eloota harka worra Filisxeemotaa jalaa baasiisa hin jalqaba» jedhe.

⁶ Achiin duuba dubartittiin gara abbaa manaa ifii dhaxxee, «Nami Waaqaa ka bifi isaa ergamaa Waaqaa fakkaatu, ka guddoo sodaachisu tokko gara kiyya dhufe; ani eessaa akka inni dhufe isa hin gaafanne; innille maqaa ifi natti hin hinne.

⁷ Inni ammoo anaan, «Ati ulfoottee ilma hin deetta; mucaalle guyyaa dhalateen jalqabee haga du'utti Naazireticha ka Waaqaaf adda baye waan te'uuf, daadhii woyni'ii yookiin waan nama macheessu hin unin, yookiin waan battii tokkole hin nyaatin» jedhe» jetteen.

⁸ Achiin duuba Maano'aan, «Magganne'e Gootta'a, nami Waaqaa sun deebi'ee gara keenna dhufee, Yennaa mucaan dhalatu waan nuuti isaaf goonu akka nutti himu godhi» jedhee Mootii Waan Maraa daadimate.

⁹ Waaqille daadimata Maano'aa dhage'e; ergamaan Waaqaa ammalle dubartiin sun fichaa keessa teetteertuun itti mudhate; abbaan manaa isi'ii Maano'aan ammoo isii waliin hin jiruuyyu.

¹⁰ Maarre isiin isatti himiisaaf, ariifattee gara isaa rukkittee, «Kunoo, namichi gaafa kaan qara gara kiyya dhufe kuun, ammalle natti mudhate» jette.

¹¹ Maano'aan ka'ee haadha manaa ifi gula deemee, gara namichaa dhagee, «Nami haadha manaa tiyya waliin dubbate si'ii?» jedhee gaafate.

Namichille, «Ee, ana» jedhee deebise.

¹² Achiin duuba Maano'aan, «Dubbiin teeti yennaa muummottu, seerri mucaan ittiin bulu, wonni nuuti isaaf godhiisaaf malle maan?» jedhee gaafate.

¹³ Ergamaan Mootii Waan Maraalle deebisee, «Haati manaa teeti, akka isiin gootuuf waan ani itti hime mara, ifi eegatiisaan gootuu ti.

¹⁴ Isiin waan midhaan woyni'ii irraa hujamu mara akka hin nyaanne, daadhii woyni'ii yookiin waan nama macheessu akka hin unne, yookiin waan battiille akka hin nyaanne; waan ani isii ajaje kana mara gootuu ti» jedhe.

¹⁵ Maano'aan ergamaa Mootii Waan Maraatiin, «Buruusoo re'ee tokko qallee haga siif qopheessinu, maganne'e diqqoo turi» jedhe.

¹⁶ Ergamaan Mootii Waan Maraa sun Maano'aan, «Ati yoo na tursitelle, ani sagalee teeti hin nyaadhu. Ciincaa dhikeessiisa yoo barbaadde ammoo, Mootii Waan Maraatiif dhikeessi» jedhe. Maano'aan akka inni ergamaa Mootii Waan Maraa te'e hin beenne.

¹⁷ Achiin duuba Maano'aan ergamaa Mootii Waan Maraatiin, «Dubbiin teeti yennaa muummottu, ulfinna akka siif kenninu maqaan keeti eennu?» jedhe.

¹⁸ Ergamaan Mootii Waan Maraa ammoo, «Ati maqaa kiyya maaf gaafatta? Maqaan kiyya akka malee kancira» jedhee deebise.

¹⁹ Maano'aan buruusoo re'eetii fi kennansa midhaanii fuudhee, rassaa ciincaa irratti dhikeessanu tokko irratti Mootii Waan Maraa ka kancira hujuu dhikeesse; achiin duuba Maano'aa fi haati manaa isaa adoo ilaalanuu Mootiin Waan Maraa waan kanciraa godhe.

²⁰ Bobeenni ibiddaa addee ciinca'aa irraa gara ol-gubba'aa yennaa ol bawu, ergamaan Mootii Waan Maraa bobe'a ibiddaa keessa gara ol-gubba'aa ol baye. Maano'aa fi haati manaa isaa tana dhagganee, fuulaan lafatti gad gombifamane.

²¹ Ergamaan Mootii Waan Maraa deebi'ee Maano'aa fi haadha manaa isaatitti hin mudhanne; achiin duuba Maano'aan namichi sun ergamaa Mootii Waan Maraa akka te'e beeke.

²² Maano'aan haadha manaa ifitiin, «Nuuti Waaqa waan dhaggineef, dhugumaan hin duuna» jedhe.

²³ Haati manaa isaa ammoo deebittee, «Waaqi adoo nu ijjeesuu barbaadee jiraate, ciinca'aa fi kennansa midhaanii keenna hin fudhatuuyyu; inni waan kana duudii nu'utti hin mudhisuuyyu yookiin waan akkasii kana amma nu'utti hin himuuyyu» jetteen.

²⁴ Dubartiin sun ilma deetee, maqaa isaa «Samsoon» jettee baatte. Mucaan guddatee, Mootiin Waan Maraalle isa eebbise.

²⁵ Samsoon qachaa quttuma Daanii keessa adoo jiruu, Zora'aa fi Eshtaa'ol wodhakka'atti Ayyaanni Mootii Waan Maraa isa kakkaasuu jalqabe.

14

Fuudha Samsoonii

¹ Gaafa tokko Samsoon gara qachaa Tiimna'aa dhagee, achitti intala Filisxeemotaa takka dhagge.

² Inni gara manaa deebi'ee abba'aa fi haadha ifitiin, «Qachaa Tiimna'aatitti intala Filisxeemotaa takka dhaggeera, na fuusisa'a» jedhe.

³ Abba'aa fi haati isaa ammoo, «Ati worra Filisxeemotaa ka haqanqabaa hin qabannee keessaa niitii fuudhiisaaf ka dhaxxu, fira keeti keessa yookiin kolbaa teenna mara keessa durri hin jirtuu?» jedhane gaafatane.

Inni ammoo abbaa ifitiin, «Isiin ilatti waan na tolteef na fuusisa'a» jedhe.

⁴ Yennaa san worri Israa'el bulchu worra Filisxeemotaa waan te'aneef, Mootiin Waan Maraa worra Filisxeemotaa irratti lola kaasuu waan barbaadeef tun akka teete, worri isaa hin beenne.

⁵ Tanaaf Samsoon abba'aa fi haadha ifii woliin gara qachaa Tiimna'aa gad bu'e; isaan addee woynii Tiimna'aa yennaa geyane, neenqi dardarri tokko dhangaa dhowaa dedhuma gara isaa dhufe.

⁶ Ayyaanni Mootii Waan Maraa hunna guddo'oon Samsoon irratti bu'ee, innille harka duwwa'aan, akka ilmee re'e'eetitti neenqa san gargar kukkute. Inni ammoo waan tolche san abba'aa fi haadha ifiititti hin hinne.

⁷ Achiin duuba dhaqee intala woliin dubbate; isiille jaalate.

⁸ Guyyoota diqqa'aan duuba Samsoon isii fuudhiisaaf deebi'ee adoo dhaquu, neenqa ijjeese san ilaaliisaaf itti gore; reeffa neenqaa keessatti kinniisi itti qubatee, dammille keessa jiruun dhagge;

⁹ inni damma san harkatti baafatee, nyaataa deeme. Inni gara abba'aa fi haadha ifii yennaa dhufe diqqaa isaa isaaniif kennee, isaanille nyaatane. Inni ammoo damma san reeffa neenqaa keessaa akka baase isaanitti hin hinne.

¹⁰ Abbaan isaa gara intala sanii dhaqee, akkuma aadaa waajibaaf godhanutti, Samsooniif achitti jila qopheesse.

¹¹ Worri Filisxeemotaa yennaa isa dhaggane, akka isa woliin turanu bookarsitoota soddoma ergane.

¹² Samsoon isaaniin, «Hiibboo takka isinitti hiibbifadha; hiibboo tana guyyoota jilaa torba kana keessatti yoo naa hintane, woyaa quncee talba'aa irraa hujante soddomaa fi woyaa adduu soddoma isiniif hin kenna.

¹³ Isin yoo naaf himuu dhaddane ammoo, woyaa quncee talba'aa irraa hujante soddomaa fi woyaa adduu soddoma naaf hin kennitan» jedhe.

Isaanille, «Hiibbifadhu me, hin dhageenna» jedhane.

¹⁴ Innille

«Ka nyaatu keessaa wonni nyaatanu,

Jabaa keessalle'ee wonni mi'owu baye» jedhe.

Isaan haga guyyaa sadii hiibboo san himuu hin dandeenne.

¹⁵ Guyyaa torbeesso'oo isaan haadha manaa Samsooniitiin, «Abbaa manaa keeti sossobadhuutii, hiibboo tana akka nuu himu godhi; yoo tana godhuu dhadde, si'ii fi mana abbaa keetii ibiddaan hin gunna; ada isin deega nutti buusiisaaf gara jilaa nu waantanee?» jedhane.

¹⁶ Tanaaf haati manaa ta Samsoonii bowaa gara isaa dhikaattee, «Ada ati na jibbita; ati dhugumaan na hin jaalattu; ati kolbaa tiyyatti hiibboo hiibbifattee, hiikkaa isi'ii ammoo natti hin hinne» jette.

Innille, «Ilaa! Ani abbaa kiyyaa fi haadha tiyyattuu hin hinne; si'itti maaf hima ree?» jedhe.

¹⁷ Isiin guyyaa jilaa torba san mara bootte; isiin waan isa rakkitteef, guyyaa torbeesso'oo hiikkaa hiibbo'oo isi'itti hime; isiille kolbaa ifii worra Filisxeemotaatitti hinte.

¹⁸ Namooti qachaa keessaa, guyyaa torbeesso'oo, adoo aduun hin seenin Samsooniin,

«Damma caalaa ka mi'owu,

neenqa caala ka jabaatu maanti jira ree?» jedhane.

Samsoonille deebisee,

«Raada tiyyaan adoo qotuu dhaddanee jiraattane,

hiikkaa hiibboo tiyyaa hin dhaggattanuuyyu» jedhe.

¹⁹ Achiin duuba Ayyaanni Mootii Waan Maraa hunna guddo'oon Samsoon irratti bu'ee, Samsoon gara Ashiqalonii gad dhaqee, namoota soddoma ijjeese, woyaa isaanii irraa mulqee, worra hiibboo himeef kenne. Saniin duuba guddoo aaree gara mana abbaa ifii deebi'e;

²⁰ haadha manaa isaalle bookarsitoota guyyaa fuudha isaa keessaa, jaala isaa heerumsiisane.

15

¹ Yennaa digqo'oon duuba yennaa qamadiin haammantu Samsoon burusoo re'e'ee takka fudhatee, haadha manaa ifii ilaalluu dhaqee, «Gara kolloo haadha manaa tiyyaa ol seenuu barbaada» jedhe.

Abbaan isi'ii ammoo akka inni ol seenu hin eeyyanne.

² Abbaan isi'ii Samsoonniin, «Ani dhugumaan waan ati isii jibbite seyee, jaala keeti heerumsiise; obboleettiin isi'ii maandhittiin isii caalaa miidhaddu'uu motii? Addee isi'ii isii fuudhi» jedhe.

³ Samsoon deebisee isaaniin, «Ani hagaraa achi worra Filisxeemotaa yennaa miidhe, hin komatamu!» jedhe.

⁴ Maarre inni dhaqee jeedala dhibba sad qabee, lamaan lamaan godhee eegee isaanii wolitti hidhe; eegee lamaan lamaan isaanii wodhakka'atti xassaa tokko tokko hidhe.

⁵ Achiin duuba xassaa sanitti ibidda qassiisee, jeedaloota san gara fichaa Filisxeemotaa ka qamadii hin haamamin keessa gad lakkisee, midhaan tuula'aatii fi ka hin haamaminii, akkasuma muka woyni'iitii fi ejersaa gube.

⁶ Worri Filisxeemotaa, «Eentu waan kana godhe» jedhatee yennaa gaafatane, jarri takka, «Abbaan sodda'aa ka Samsoonii nami qachaa Tiimna'aa, haadha manaa Samsoonii jaaluma isaa waan heerumsiiseef, Samsoonitti tana godhe» jette. Tanaaf worri Filisxeemotaa dhaqee, haadha manaa Samsoonitii fi abbaa isi'ii ibiddaan gubanee ijjeesane.

⁷ Samsoon isaaniin, «Eega isin tana gootane, anille haluu tiyya isin bawu malee hin lakkisu» jedhe.

⁸ Inni akka malee isaan lolee, nama hedduu fixe. Achiin duuba inni gad dhaqee, goda rassaa Etaamii keessa ture.

Samsoon Worra Filisxeemotaa Injifate

⁹ Worri Filisxeemotaa ol bayanee, lafa Yihuda'aa keessa qubatanee, qachaa Lehii lolane.

¹⁰ Namooti Yihuda'aa isaaniin, «Isin maaf nu loliisaaf dhuttanne?» jedhatee gaafatane.

Isaan deebisane, «Samsoon qannee hiinee, waan inni nu godhe, nuutille isa godhiisaaf dhunne» jedhane.

¹¹ Achiin duuba namooti Yihuda'aa kum sad gara goda rassaa Etaamititti gad bu'anee Samsoonniin, «Worri Filisxeemotaa bulchitoota teenna akka te'ane hin beettu? Wonni ati nutti hujje kun maan?» jedhane.

Inni deebisee, «Waan isaan na godhane, anille isaan godhe» jedhe.

¹² Isaanille, «Nuuti qannee si hiinee, worra Filisxeemotaatitti dabarsinee si kenniisaaf asi dhunne» jedhaneen.

Samsoon deebisee, «Isinummaan akka na hin ijeenne naaf kakadha'a» jedhe.

¹³ Isaan, «Nuuti qannee si hiinee, worra Filisxeemotaatitti kennina malee, si hin ijeennu» jedhane. Maarre isaan wodaroo haareya lamaan isa hidhatee, goda rassa'aa keessaa baasane.

¹⁴ Samsoon gara qachaa Lehiititti yennaa dhikaate, worri Filisxeemotaa hogisaa gara isaa dhufe. Ayyaanni Mootii Waan Maraa hunna guddo'oon isa irratti bu'ee, wodaroon harki isaa ittiin hidhameeru sun, akka liilana ibiddi gubee, baxxee harka isaa irraa buute.

¹⁵ Achiin duuba Samsoon a'oo harree reef duutee takka dhaggee, gad jedhee fuudhee, namoota kuma tokko a'oo saniin ijeese.

- ¹⁶ Achiin duuba Samsoon,
«A'oo harre'eetiin, ani wol irratti isaan tuulee,
a'oo harre'eetiin ani namoota kuma tokko ijjeese» jedhe.
- ¹⁷ Inni tana dubbatee fixeen duuba, a'oo harre'ee san gate. Tanaaf maqaan addee sanii, «Raamat Lehii»^{*} jedhantee waamante.
- ¹⁸ Achiin duuba Samsoon guddoo dheebotee, gara Mootii Waan Maraa iyyee, «Ati injifachaa guddaa kana ana garbicha keetiif kenniteerta; ani amma dheebu'uun du'aa ree? Worra haqanqabaa hin qabanneen booji'amaa ree?» jedhe.
- ¹⁹ Achiin duuba Waaqi balee Lehii keessa jirtu banee, bisaan keessaa madde. Samsoon yennaa bisaan san une, ayyaanni isaa deebi'eef bayyanate. Maarre maddi sun, «En-Haaqoree[†]» jedhamee haga adhaa qachaa Lehii keessatti beekkama.
- ²⁰ Bara worri Filisxeemotaa biyya bulchanu keessa, Samsoon woggaa diddamaaf Israa'eloota irratti abbaa mura'aa te'e.

16

Samsoonii Fi Deliilaa

- ¹ Gaafa tokko Samsoon gara qachaa Gaaza'aa dhaqee, dubartii sagaagaltit-tii takka dhaggee, isii woliin buliisaaf gara isi'ii seene.
- ² Worri qachaa Gaaza'aa, «Samsoon as dhufeera» jechuu dhage'anee, adaala san marsanee, halkan guutuu karra qachaa sanii eegaa bulane; isaan, «Yennaa latti bariitu isa hin ijeenna» jedhane, halkan guutuu riphane isa eegaa bulane.
- ³ Samsoon ammoo haga halkan wodhakka'aa qofa rafe; achiin duuba ka'ee, cufanaa karra qacha'aa, mikikkila lamaanii fi danqaraa duudii bubuqqisee, gurmoo ifii irratti kaafatee, haga kooba Kebrooniin dura jirtuu-titti ol baase.
- ⁴ Saniin duuba Samsoon dubartittii Deliilaa jedhantu, ta dhooqa Sooreqii keessa leetu takka jaalate.
- ⁵ Moototi Filisxeemotaa shanan gara isi'ii dhaqanee, isi'iin, «Samsoon sossobiitii, wonni guddoo isa jabeessu maan akka te'ee fi nuutille attam goonee isa hiinee ifiin jala galfatiisa akka dandeennu nuu gaafadhu. Nuuti tokko tokkoon keenna, meetii kuma tokkoo fi dhibba tokko sii hin kennina» jedhane.
- ⁶ Maarre Deliilaan Samsoonin, «Magganne'ee waan akkana guddoo si jabeessuu fi nami tokko si hidhee ifiin jala si galfatiisa attam akka dande'u natti himi?» jette.
- ⁷ Samsoon deebisee, «Teepha jiidhaa torbaan yoo na hidhane, akkuma nami dhibiin dadhabu hin dadhaba» jedhe.
- ⁸ Achiin duuba bulchitooti Filisxeemotaa teepha jiidhaa torba, Deliila'atti fiddee, isiille Samsoon hiite.
- ⁹ Yennaa san namooti kolloo manaa keessatti riphane eegiiisatti jiranuun, isiin, «Samsoon! Worri Filisxeemotaa sitti dhufane!» jette; inni ammoo akkuma liilanni yennaa ibiddi tuqu ciccitu, teepha san kukkute. Tanaaf isaan hunni isaa eessaa akka dhuttu hin beenne.
- ¹⁰ Deliilaan Samsoonin, «Ilaa! Ati na gowwisiittee, soba natti dubbatte; maganne'ee attam akka si hidhuu dande'anu natti himi!» jetteen.
- ¹¹ Inni isi'iin, «Wodaroo haareya ta itti hin fayyadaminiin yoo na hidhane, akkuma nami dhibiin dadhabu hin dadhaba» jedhe.

^{*} **15:17 Raamat Lehii:** Afaan Ibrootaatiin Kooba a'o'oo jechu'u. [†] **15:19 En-Haaqoree:** Afaan Ibrootaatiin Madda nama Waaqa waammatu jechu'u.

¹² Maarre Deliilaan wodaroo haareya fuutee isa hiite; achiin duuba namoota kolloo manaa keessatti riphane eegiisatti jiranuun, «Samsoon! Worri Filisxeemotaa sitti dhufane» jette. Inni ammoo irree ifitiin, wodaroo san akka liilanaa kukkute.

¹³ Deliilaan Samsoonin, «Ilaa! Ati haga ammaa na gowwisiittee, soba natti dubbatte; attam akka si hidhuu dande'anuu natti himi!» jetteen.

Inni isi'in, «Guduruu rifeensa mataa kiyyaa torbaan liilana waliin footee gudunfitee, shikaala'atti yoo hiite, akkuma nami dhibiin dadhabu hin dadhaba» jedhe.

¹⁴ Achiin duuba Deliilaan adoo inni rafeeruu, guduruu rifeensa mataa isaa liilana waliin footee, gudunfitee, shikaala'atti hiitee, «Samsoon! Worri Filisxeemotaa sitti dhufane!» jette. Inni ammoo hirriibaa dammaqee, togaa liilanaa fi guduruu rifeensa mataa ifii waliin buqqise.

¹⁵ Maarre isiin Samsoonin, «Gadhaan keeti na bira adoo hin jiraatin, attam si jaaladha naan jetta ree? Ati yennaa sad na soddee, waan guddoo si jabeesselle natti hin hinne» jette.

¹⁶ Tanaaf isiin guyyuma guyya'aan isa gaafatiisaan, du'a haga halchutti isa ko'itte.

¹⁷ Dhuma irratti inni, «Ani gadhaa haadha tiyyaatii jalqabee Naazireeticha Waqaaf adda baye waan te'eef, rifeensi mataa kiyyaa haadamee hin beeku; yoo haadame akkuma nami dhibiin dadhabu hin dadhaba» jedhee waan gadhaa ifii mara itti hime.

¹⁸ Deliilaan akka inni dhugaa itti hime yennaa hubatte, gara bulchitoota Filisxeemotaa ergitee, «Inni dhugaa waan natti himeef, yennaa takkaa deebi'a'aa kowa'a» jette. Isaanille beesee qabatanee gara isi'ii dhufane.

¹⁹ Deliilaan Samsoon gudeeda ifii irra raffittee, nama tokko waantee guduruu rifeensa mataa isaa torbaanuu akka haadu goote, isa rakkisuu jalqadde; innille jabeenna ifii dhabe.

²⁰ Achiin duuba isiin, «Samsoon! Filisxeemoti sitti dhufane» jetteen; Innille hirriiba irraa yennaa dammaqee, «Akkuma qaraa ifi irraa kukkutee gad baya» jedhee yaadate. Inni ammoo akka Mootiin Waan Maraa isa lakkiseeru hin beenne.

²¹ Maarre worri Filisxeemotaa isa qabane, ila isaa lamaanuu keessaa baasane. Isaan gara Gaaza'aa gad isa geessanee wodaroo sageettu'uutiin hidhane, mana hidha'aa san keessatti akka midhaan daaku godhane.

²² Rifeensi mataa isaa ka haadame ammoo, deebi'ee guddatiisa jalqabe.

Du'a Samsoonii

²³ Bulchitooti Filisxeemotaa, «Daagon waaqi keenna, diinaa keenna Samsoon harka keenna keessa galcheera» jedhane, jila jilifatanee, Daagonii waaqa ifitiif ciincaa guddoo dhikeessiisaaf wolitti qabamane.

²⁴ Isaan yennaa Samsoon dhaggane, waaqa ifii leellifatanee, «Ka biyya teenna balleessee, ka nama hedduu nu duraa ijjeese diina keenna, waaqi keenna harka keennatti dabarsee kenneera» jedhane.

²⁵ Gadhaan isaanii yennaa guddoo gammade, «Samsoon dhufee akka nu taphachiisu, isa waama'a» jedhane; maarre isaan mana hidha'aa keessaa Samsoon waansisane; innille isaanii taphate; isaan akka inni odduu utuba'aa dhaabbatu godhane.

²⁶ Samsoon mucaa harka isaa qabee isa qajeelchuun, «Utubaa galma utubeeru qabadhee, itti irkadhee dhaabbadhuu ti» jedhe.

²⁷ Manni sun dhiiraa fi dubarti'iin guutameeraayyu; bulchitooti Filisxeemotaalle marti achi jiran; heellichoo* mana sanii irra dhiiraa fi dubartiin gara kuma sadii tapha Samsoon taphatu ilaaliisatti jiraniyyu.

²⁸ Achiin duuba Samsoon, «Ee Goottaa Mootii Waan Maraa! Maganne'ee na qaabadhu; Waaqa kiyya, worra Filisxeemotaa ka ila tiyya lamaan na keessaa baasane, haluu tiyya akka bawuuf, takkuma qofa hunna na jabeessi» jedhee Mootii Waan Maraa daadimate.

²⁹ Maarre Samsoon utuboota lamaan wodhakka'aa ka galma utubeeru, utubaa tokko harka middaatiin, utubaa kaan harka bita'aatiin jabeessee qabee,

³⁰ «Ani worra Filisxeemotaa woliin du'uu ti!» jedhee, hunna ifii guutu'uun yennaa dhiibe, manni bulchitoota Filisxeemotaatii fi worra achi jiru duudii irratti jige. Samsoon adoo jiruu worra ijjeeseen irra, gaafa du'e worra ijjeesetti caala.

³¹ Achiin duuba obboleeyyan isaatii fi maatiin isaa marti gad dhaqanee, reeffa isaa fuudhanee, awwaala abbaa isaa Maano'a'aa ka Zora'aa fi Esh-taa'ol wodhakkaa jirutti awwaalane. Samsoon woggaa diddama Israa'eloota irratti abbaa mura'aa te'e.

17

Waaqota Dharaa Ka Miikaan Huje

¹ Biyya koobittii Efreemii keessaa, namichi «Miikaa» jedhamu tokko jiraayyu.

² Inni haadha ifitiin, «Meetiin kumi tokkoo fi dhibbi tokko si duraa yennaa hatante, ati nama si duraa hate abaartuun dhage'eera; kunoo, meetiin sun harka kiyya jirti; ka fudhatelle ana» jedhe.

Haati isaalle, «Ilma kiyya, Mootiin Waan Maraa si eebbisu» jetteen.

³ Inni meetii kuma tokkoo fi dhibba tokko san deebisee, haadha ifitiif kenne; haati isaalle, «Abaarsi kiyya si ilma kiyya akka hin dhaqqanne, aninuu meetii tana Mootii Waan Maraatiif adda baasa; waaqota dharaa muka irraa bocamee, meeti'iin gonfamulle'eef hin teeti; tanaaf meetii tana deebisee si'ii hin kenna» jetteen.

⁴ Maarre yennaa inni meetii san haadha ifititti deebisee kenne, isiin meetii san irraa dhibba lama fuutee, namicha meetii bassu ka muka bocee waaqa dharaa hujee, meetii itti gonfutti kennite; fakkii sanille mana Miika'aa keessa keyane.

⁵ Namichi «Miikaa» jedhamu kun galma waaqota ifii itti waaqonfatu qabaayyu; inni woyaa hayyumma'aa ta qomaatii fi fakkii waaqotaa hujee, ilmaan ifii keessaa tokko akka hayyuu isaaf te'u file.

⁶ Yennaa san Israa'el keessa mootiin waan hin jirreef, nami martinuu waanuma fedhe godhaayyu.

⁷ Yennaa san dargaggeessi sanyii Lewwi'ii, ka gosa Yihuda'aa te'e, biyya Yihuda'aa keessa ka qachaa Betlihemii keessa le'u tokko jiraayyu.

⁸ Namichi kun qachaa Betlihemii biyya Yihuda'aa keessaa lakkisee addee dhibii itti le'u barbaadatiisaaf adoo deemuu, gara mana Miika'aa ka biyya koobittii Efreemii keessa dhufe.

⁹ Miikaan, «Eessaa dhutte?» jedhee isa gaafate.

Innille deebisee, «Ani sanyii Lewwi'ii ti; biyya Yihuda'aa qachaa Betlihemii keessaa addee dhibii itti le'u barbaadatiisaaf dhufe» jedhe.

* **16:27 Heellichoo:** Heellichoon mana worra sanii gubbaan isi'ii diriira waan teeteef nami hedduun irra tee'uu dande'an.

¹⁰ Achiin duuba Miikaan isaan, «Na bira tee'i; abbaalle, hayyuulle naaf te'i. Ani wogga'atti meetii kudhan, sagale'ee fi woayaalle si'iif hin kenna» jedhe.

¹¹ Maarre dargaggeessichi sanyii Lewwi'ii sun, Miikaa woliin tee'iisaaf wolii galee, akka ilma isaa isaaf te'e.

¹² Miikaan dargaggeessicha Lewwicha san hayyuu godhate; innille mana Miika'aa tee'e.

¹³ Miikaalle, «Nami sanyii Lewwi'ii hayyuu kiyya waan te'eef, Mootiin Waan Maraa waan dansaa akka naaf godhu hin beeka» jedhe.

18

Miika'aa fi Sanyii Daanii

¹ Yennaa san Israa'el keessa mootiin hin jiru; gosi Daanii haga bara saniititti gosa Israa'elii oddu'utti lafa ifii waan hin dhaggatiniif, lafa keessa le'anuu barbaadatiisatti jiraniyyu.

² Maarre kolbaan Daanii fira ifii ka qachaa Zora'aatii fi Eshtaa'olii keessaa, namoota jajjaba shan filanee, lafa dooyanee akka qorqoranuuf ergane. Namooti ergamane sun ka fira ifii mara bakka bu'eeru. Isaan, «Dhaqa'aatii, lafa san qorqora'a» jedhane isaaniitti himane.

Isaan gara biyya koobittii Efreemii, gara mana Miika'aa yennaa dhufane, achi bulane.

³ Isaan Mana Miika'aa adoo jiranuu, dargaggeessicha sanyii Lewwi'ii san haasowa isaatiin isa beekanee, gara isaa garagalanee, «Eentu as si fide? Maan asii hujja? Maaf as dhutte?» jedhane gaafatane.

⁴ Inni waan Miikaan isaaf godhe isaaniitti himee, «Miikaan na qaxaratee, ani hayyuu isaa te'eera» jedheen.

⁵ Achiin duuba isaan, «Yaadi nuuti deemiisatti jirru kun, ka nu'uuf guutaaru fi guutuu dhabaaru akka te'e, maganne'ee Waaqa nu'uuf gaafadhu» jedhaneen.

⁶ Hayyichi deebisee, «Yaadi isin deentanuu kun Mootii Waan Maraa duratti fudhatama'a; nageyaan dhaqa'a» isaaniin jedhe.

⁷ Maarre namooti shanan sun achii ka'anee, gara qachaa Laa'iishii dhaqanee, worri qachaa sanii akkuma worra Sidoonii nageyaa fi bidhaa malee akka le'anuu dhaggane; latti isaanii waan mara waan qadduuf, isaan dureeyyi'i; worri qachaa sanii worra Sidoonii irraa fagaatee le'a; namoota dhibii wolille'een wolitti hin dhufanu.

⁸ Namooti shanan sun gara qachaa Zoraatii fi Eshtaa'olii yennaa deebi'ane, namooti isaanii, «Wonni isin dhaxxaneef maan teete?» jedhane isaan gaafatane.

⁹ Isaan deebisane, «Latti guddoo dansaa akka teete dhaggineerra. Ka'a'a itti duullee lollaa! Cadhittanee as hin tee'ina'a! Ariifadha'aa dhaqa'aatii biyya san qabadha'a.

¹⁰ Yennaa achi geettane namoota bidhaa malee le'anuu hin dhaggitan; biyyi sun badho'o; wonni marti achi keessatti dhagganti; Waaqi biyya san isiniif kenneera» jedhane.

¹¹ Tanaaf gosa Daanii keessaa, namooti dhibbi jaa meya woraanaa hidhatanee, qachoota Zora'aatii fi Eshtaa'olii keessaa bayanee deemane.

¹² Isaan ol bayanee, biyya Yihuda'aa keessa qachaa Kiriiyat-Ya'ariimii gara aduun seentutti qubatane; tanaaf addeen sun haga adhaa quttuma gosa Daanii jedhanti.

¹³ Achille'ee dabaranee, gara biyya koobittii Efreemii dhaqanee, gara mana Miika'aa dhufane.

¹⁴ Achiin duuba namooti shanan, ka biyya adaala qachaa Laa'iishii dooyiisaaf dhaqane namoota ifitiin, «Manoota kana keessaa tokkocha keessa, waaqi dharaa ka muka irraa bocamee meeti'in gonfame, woyaan hayyumma'aa ta qomaa, fakkiin waaqota dharaa ta dhibiille akka jirtu hin beettanuu? Tanaaf amma maan akka gootanu yaadadha'a» jedhane.

¹⁵ Maarre gara mana Miika'aa, addee dargaggeessi gosa Lewwi'ii le'u dhaqanee, nageya isa fuudhane.

¹⁶ Yennaa san namooti Daanii worri dhibbi jaa meya woraanaa hidhata-nee, seensuma karraa bira dhaabbataneeraniyyu.

¹⁷ Dargaggeessichi hayyichi sun, namoota dhibba jaa ka meya woraanaa hidhatane waliin seensuma karraa bira adoo dhaabbatee jiruu, worri shanan dooyu sun gara mana Miika'aa seenee, waaqota dharaa ka muka irraa bocamee meeti'in gonfame, woyaa hayyumma'aa ta qomaa, fakkii waaqota dharaa ta dhibiille fuudhane.

¹⁸ Isaan mana Miika'aa seenanee, waaqota dharaa ka muka irraa bocamee meeti'in gonfame, woyaa hayyumma'aa ta qomaa, fakkii waaqota dharaa ta dhibiille yennaa fuudhane, hayyichi, «Isin maan godhaartan?» jedhee gaafate.

¹⁹ Isaan, «Cadhisi! Afaan keeti qabadhu; nu waliin koyiitii abba'aa fi hayyuu nuu te'i. Maatii nama tokkootiif hayyuu te'iisaa mannaa, gosaa fi balbala Israa'elii tokkoof hayyuu te'uu si'iif hin wooyuu?» jedhaneen.

²⁰ Wonni kun hayyicha guddoo waan gammachiitteef, woyaa hayyumma'aa ta qomaa, waaqota dharaa ka muka irraa bocamee meeti'in gonfamee fi waaqotaa dharaa ka dhibiille fuudhee isaan waliin deeme.

²¹ Isaan ijoollee ifii, horii ifitii fi qabeenna ifii ifiin dura aansanee, deebi'anee deemane.

²² Namooti Daanii mana Miika'aa biraa fagaataneen duuba, Miikaan ollaa ifii wolitti waamee, hordofanee isaan dhaqqabane,

²³ itti iyyane. Namooti Daaniille gara isaanii garagalanee Miika'aan, «Ati namoota kana mara wolitti qaddee wonni dhutteef, haajaan keeti maan?» jedhane gaafatane.

²⁴ Miikaan deebisee, «Isin hayyicha kiyyaa fi waaqota ani hujadhe fudhattanee deentane; maanti naa hafe? Attam «Haajaan keeti maan?» naan jettan?» isaaniin jedhe.

²⁵ Namooti Daanii dhufane Miika'aan, «Namooti kun aaranee si lolanee, lubbuu teetii fi maatii teetii akka hin dhanne «Xi'i» hin jedhin» jedhane.

²⁶ Achiin duuba worri Daanii karaa ifii deemane; Miikaan worri Daanii isa caalaa jajjaboo akka te'ane yennaa dhagge, gara mana ifii deebi'ee deeme.

²⁷ Worri Daanii waaqota Miikaan hujatee fi hayyicha isaaf tajaajilu isa durraa fudhatanee, gara qachaa Laa'iishii dhufanee, kolbaa nageyaa fi bidhaa malee leetu shallaaga'aan ijjeesanee, qachaa sanille gubane.

²⁸ Kolbaan qachaa Laa'iishii, Sidoon irraa fagoo dhooqa Bet-Rehoobii keessa waan leetuu fi namoota qachaa dhibi'ii wolille'een wolitti waan hin dhunneef, nami isaan baasu hin dhagganee.

Worri Daanii qachaa san deebisee ijaaree achi keessa le'e.

²⁹ Isaan maqaa qacha'aa ka durii Laa'iishi jijjiirane, maqaa abbaa isaanii ka durii ilma Yaaqoobiitiin, «Daan» jedhane moggaasane.

³⁰ Worri Daanii waaqota san waqonfatiisaaf achitti dhaabbachiisane; ilmi Minaase'ee Gershoom ka uumate Yonaataan, worra Daaniitiif hayyuu te'ee tajaajiliisa jalqabe; sanyiin isaalle haga yennaa kolbaan booji'anteetitti hayyoota teete tajaajilte.

³¹ Haga bara Galmi Waaqaa Shiiloo keessa turetti, kolbaan Daanii waaqota dharaa ka Miikaan huje san achi dhaabbachiifatane.

19

Lewwichaa Fi Gursumeettittii Isaa

¹ Bara Israa'el mootii hin qanne sanitti, nami gosa Lewwi'ii ka biyya koobittii Efreemii keessa moggaa le'u tokko jiraayyu; inni Betlihemii biyya Yihuda'aa keessaa gursumeettii takka fuudhe.

² Gursumeettiin isaa sun ammoo sagaagaltee, gara mana abbaa ifii ka Betlihemii biyya Yihuda'aa keessa jirutti deebitee, ji'a afur achi turte.

³ Achiin duuba abbaan manaa isi'ii sheshelatee* isii galfatiisaaf tajaajilaa ifitii fi harree lama fudhatee dhage; yennaa inni achi geye isiin gara manaa isa seensitte; abbaan isi'iille gammadaan isa fudhate.

⁴ Abbaan isaa ka sodda'aa, abbaan isi'ii akka inni achi turu godhe; maarre inni nyaataa unaa guyyaa sad achi ture.

⁵ Gaafa guyyaa arfeesso'oo, barii ganamaan ka'anee deemiisaaf qophowane. Abbaan sodda'aa ammoo dhirsaa intala ifitiin, «Jabaattee akka deentuuf, qara wo nyaadhu» jedhe.

⁶ Maarre namooti lamaanuu sun tee'anee nyaatanee unane; achiin duuba abbaan sodda'aa dhirsaa intala ifitiin, «Magganne'ee, adhalle asuma buliitii gammadi» jedhe.

⁷ Lewwichi sun galiisaaf yennaa ka'e, abbaan sodda'aa isaa ammoo, akka inni buluuf uttise; maarre inni halkan san achi bule.

⁸ Gaafa guyyaa shaneesso'oo barii ganama deemiisaaf ka'e; abbaan sodda'aa ammoo, «Magganne'e wo nyaadhu; aduu qabbaneeffattee deenta» jedhe. Tanaaf abbaan sodda'aatii fi dhirsaa intalaa sun waliin nyaatane.

⁹ Namichi Lewwi'ii sun gursumeettii ifitii fi tajaajilaa ifii waliin deemiisaaf yennaa ka'e, abbaan sodda'aa isaa, «Kunoo amma isinitti dhi'aarti; ammumaayyuu dukkanowiisatti jirti; edana asuma bula'aatii gammada'a; boru barii ganamaan kaatanee gara mana keessanii deentan» jedhe.

¹⁰ Lewwichi sun ammoo halkan san achi buluu hin barbaanne; tanaaf inni, gursumeettii ifii, tajaajilaa ifitii fi harree ifii ta kooraan itti fe'ame lama waliin ka'ee deeme; yennaa latti dhiite fuullee Yibusii geyane. Yibuusiin kun qachaa, «Yerusaalem» jedhamu.

¹¹ Yennaa isaan Yibus geyane latti itti dhiite; tajaajilaalle gootaa ifitiin, «Koy, gara qachaa Yibusootaa kana gorree bulla» jedhe.

¹² Gootaan isaa ammoo, «Lakkii dabarree qachaa Giibe'aa dhandha malee, qachaa ormaa ka Israa'elooti keessa hin jirretti hin gorru.

¹³ Koy, gara qachaa Giibe'aa yookiin gara qachaa Raama'aa dhikaannee, isaan keessaa tokko keessa bulla» jedhe.

¹⁴ Tanaaf Yibus irra dabaranee deemanee, qachaa Giibe'aa biyya Beniyaamiititti yennaa dhikaatane, aduun seente.

¹⁵ Isaan qachaa Giibe'aa buliisaaf itti gorane; Lewwichi sun badhinna qacha'aa keessa tee'e; ammoo nami tokkolle isaan bulchiisaaf gara mana ifii isaan hin fudhanne.

¹⁶ Adoo inni achi jiruu, jaarsi biyya koobittii Efreemii irraa dhufee, ka qachaa Giibe'aa keessa le'u tokko, hujii fichaa ifii irraa dhufe; kolbaan addee sanii ammoo, sanyii Beniyaaminii ti.

¹⁷ Jaarsi sun nama badhinna qacha'aa tee'eeru tokko dhaggee, «Eessaa dhutte? Eessa dhaqaarta ree?» jedhee gaafate.

* **19:3 Sheshelatee:** Shosholatee yookiin sossobate.

¹⁸ Lewwichi sun deebisee, «Nuuti Betlihemii biyya Yihuda'aa irraa gara biyya koobittii Efreemii irraa moggaa jirtu, addee irraa dhufetti gara mana kiyyaatii fi gara mana Mootii Waan Maraa deemiisatti jirra; asitti nami gara mana ifii fudhatee na bulchu hin jiru.

¹⁹ Nuuti tajaajiltooti teeti harree teennaaf okeyaa fi hicaacee, naaf, gursumeettii tiyyaa fi tajaajilaa kiyyaaf daabbo'oo fi daadhii woyni'ii qanna; tana caalaa womaa hin barbaannu» jedhe.

²⁰ Jaarsille, «Koy mana kiyya buli; ani waan si'iif barbaachisu mara hin kenna; badhinna keessa ammoo hin bulin» jedhe.

²¹ Maarre inni gara mana ifii isaan fudhatee, harree isaaniitiif okeya kenne. Keessumootille miila ifii dhiqattee, nyaattee unte.

²² Adoo isaan gammadiisatti jiranuu, qachaa keessaa namooti nama bukkoonsanu dedhuma mana san marsanee, balbala tumiisa jalqabane. Isaan jaarsicha abbaa manaatiin, «Namicha mana keeti keessa jiru, akka bukkoonsinu gad nuu baasi» jedhane.

²³ Jaarsichi ammoo gad bayee, «Jaalota tiyya! Lakkisa'a! Namichi kun keessummaa tiyya waan te'eef, waan hantuu akkasii hin hujina'a!

²⁴ Gursumeettiin namichaatii fi intalti tiyya ta durraa kunoo ti! Isaan isiniif gad baasa, waan feetane isaan godha'aatii, itti taphadha'a. Nama kana irratti ammoo waan hantuu hin godhina'a!» jedhe.

²⁵ Namooti ammoo dubbii isaa caqasuu didane; tanaaf Lewwichi gursumeettii namichaa gad baasee kenneef; halkan guutuu hunnaan isii woliin rafanee, itti taphataa bulanee, yennaa boruun dayya'u akka deentuuf lakkisane.

²⁶ Dubartittiin sun ganama boruun yennaa dayya'u, addee abbaan manaa isi'ii bule mana jaarsichaa bira dhuttee jiddee, haga latti bariitutti achi turte.

²⁷ Abbaan manaa isi'ii ganama ka'ee deemiisaaf balbala yennaa banu, gursumeettiin isaa gulantaa balbalaa irratti harka ifii badhifattee jiddeertuun dhaggee,

²⁸ «Ka'i ideenna!» jedheen; ammoo deebii hin dhagganee; achiin duuba reeffa isi'ii harree irratti fe'ee gara mana ifii deeme.

²⁹ Inni yennaa mana ifii geye, billowa fudhatee, reeffa gursumeettii ifii addee kudhanii lamatti kukkutee, kutaa biyya gosa Israa'elii maratti tokko tokko erge.

³⁰ Worri waan kana dhagge duudiin, «Nuuti waan akkasii dhageennee hin beennu! Israa'elooti biyyaa Gibxi'ii keessaa haga bayanee jalqabee, wonni akkasii tokkolle teetee hin beettu yookiin dhaggantee hin beettu! Marroo waan kanaa itti yaadadha'a, mari'adha'aatii waan goonu nutti hima'a» jedhane.

20

Israa'elooti Sanyii Beniyaaminii Lolte

¹ Kolbaan Israa'elii qachaa Daanii ka gara kaabaa irraa haga Bersheebaa gara kibbaa, akkasuma qachaa Giil'aadii ka gara aduun baatuu jiru duudiin, yaada tokkochaan qachaa Miispha'aatitti Mootii Waan Maraa duratti wolitti qabante.

² Soressitooti kolbaa gosa Israa'elii duudiin, yaa'ii kolbaa Waaqaa loltoota miilaa kuma dhibba afur ta shallaagaa hidhatteertu keessatti dhaggamane.

³ Sanyiin Beniyaamii gosi Israa'elii duudiin Miispha'atti akka wolitti qabamane dhage'ane.

Israa'elootille, «Wonni hantuun tun attamiin akka teete nutti hima'a» woliin jedhane.

⁴ Namichi Lewwichi abbaan manaa, ka dubartii ijjeefantee sun deebisee, «Anii fi gursumeettiin tiyya qachaa Giibe'aa ka biyya Beniyaaminii keessaa buliisaaf dhunne.

⁵ Halkan san namooti Giibe'aa balaa natti buusiisaaf, mana ani keessa jiru halkaniin marsanee, na ijjeesiisaaf barbaadane; gursumeettii tiyya hunnaan woliin rafanee, isiille duute.

⁶ Isaan waan hantuu fokkisiittuu akkasii waan hujaneef, ani reeffa isi'ii fuudhee kukkutee, gara kutaa biyya gosa Israa'elii tokko tokkottuu erge.

⁷ Maarre amma isin Israa'elooti duudiin, mari'adha'aatii murteessa'a» jedhe.

⁸ Kolbaan duudiin yaada tokkochaan kaatee, «Nu keessaa nami tokkolle gara dunkaana ifii yookiin gara mana ifii hin deebi'in.

⁹ Amma ammoo wonni nuuti goonu, qachaa Giibe'aa irratti hixa'aan duulla.

¹⁰ Israa'el keessatti waan fokkisiittuu hujaneef, kolbaa qachaa Giibe'aa ta biyya Beniyaaminii keessaa adabiisaaf, loltoota duulanuuf galaa akka dhiheessanu, gosa Israa'elii mara keessaa namoota dhibba keessaa kudhan, kuma tokko keessaa dhibba tokko, kuma kudhan keessaa kuma tokko hin qopheessina» jedhane.

¹¹ Maarre namooti Israa'elii duudiin yaada tokkoon qachaa san loliisaaf wolitti qabamane.

¹² Gosi Israa'elii gara gosa Beniyaamii namoota erganee, «Wonni hantuun namooti gariin odduu teessanitti hujane kun maan?

¹³ Amma namoota waan hantuu akkasii hujanee Giibe'aa keessa jiranu qaba'aatii nutti kenna'a; nuuti isaan ijjeennee, hujii hantuu tana Israa'el keessaa balleessina» jedhane. Worri Beniyaaminii ammoo waan Israa'elooti obboleeyyan isaanii isaanitti himane hin fudhanne.

¹⁴ Worri Beniyaaminii qachoota ifii keessaa wolitti qabamane, Israa'eloota loliisaaf gara qachaa Giibe'aa dhufane.

¹⁵ Guyyaa san worri Beniyaaminii loltoota dhibba torba ka filamanee qachaa Giibe'aa keessa jiranu adoo hin dabalatin, qachoota ifii keessaa loltoota kuma diddamii jaa ka shallaagaa hidhatane wolitti qabane.

¹⁶ Loltoota tana keessaa namooti dhibbi torba bitaatticha; isaan looyya'aan dhakaa rifeensa tokkotti yoo qolaansanu irraa hin qabanu*.

¹⁷ Israa'elooti gosa Beniyaaminii adoo hin dabalatin, loltoota kuma dhibba afur ta shallaagaa hidhatte lolaaf baasane.

Lola Gosa Beniyaaminii Irratti ka'e

¹⁸ Israa'elooti gara qachaa Bet'elii ol bayanee, «Gosa Beniyaaminii loliisaaf nu keessaa gosa tamitti dura aana?» jedhane Waaqa gaafatane. Mootiin Waan Maraa, «Gosi Yihuda'aa dura aantuu ti» jedhee deebise.

¹⁹ Achiin duuba Israa'elooti boruuyyaa ganama ka'anee, qachaa Giibe'aa biratti qubatane.

²⁰ Isaan loltoota Beniyaaminii loliisaaf bayanee, fuullee qachaa Giibe'aatiitti addee qabatane.

²¹ Guyyuma san loltooti Beniyaaminii qachaa keessaa bayanee, loltoota Israa'elii kuma diddamii lama ijjeesane.

²² Israa'elooti ammoo wol jajjabeessanee, addee ifii ta guyyaa qaraa qabatanetti ammalle addee qabatane.

* **20:16** *Irraa hin qabanu*: Yookiin irraa hin gorsan.

²³ Israa'elooti dhaqanee haga galgalaatitti Mootii Waan Maraa duratti bowanee, «Nuuti ammalle obboleeyyan teennaa Beniyaaminoota loliisaaf hin duullaa ree?» jedhanee gaafatane. Mootiin Waan Maraalle deebisee, «Ee, dhaqa'aatii lola'a» jedhe.

²⁴ Maarre guyyaa lammeesso'oo gosa Beniyaaminiititti duulane.

²⁵ Worri Beniyaaminiille guyyaa lammeesso'oo san isaan loliisaaf qachaa Giibe'aatii bayanee, loltoota Israa'elii keessaa loltoota shallaagaa hidhatte kuma kudhanii saddeeti ijjeesane.

²⁶ Achiin duuba kolbaan Israa'elii duudiin gara Bet'elii ol baatee, achitti Mootii Waan Maraa duratti teettee bootte; guyyaa san haga galgalaatitti laantee, ciinca'aa fi woreega nageyaa Mootii Waan Maraatiif dhikeessite.

²⁷⁻²⁸ Bara san saanduqi gondo-roo Waaqaa achi waan jiruuf, akaakoon Aaronii, ilmi Ele'azaarii Fiinehaas Saanduqa Gondo-roo'oo san dura dhaab-batee tajaajilaayyu; Israa'elootille «Obboleeyyan teenna worra Beniyaaminii loliisaaf ammalle hin dhandha moo hin lakkinna?» jedhanee Mootii Waan Maraa gaafatane. Mootiin Waan Maraa deebisee, «Ani boru harka keessanitti dabarsee isaan waan kennuuf, dhaqa'aa lola'a» jedhe.

²⁹ Achiin duuba Israa'elooti, loltooti adaala Giibe'aatitti riphanee akka eeganu godhane.

³⁰ Guyyaa sadeesso'oo, Israa'elooti worra Beniyaaminii loliisaaf ol bayanee, akkuma qaraa fuullee qachaa Giibe'aatitti addee qabatane.

³¹ Worri Beniyaaminiille Israa'eloota loliisaaf yennaa bayane, qachaa irraa ari'anee fageessanee, akkuma qaraa karaa gara Bet'elii ol baasuu fi gara qachaa Giibe'aa geessu irratti loluu jalqabanee, Israa'eloota soddoma diida keessatti ijjeesane.

³² Worri Beniyaaminii, «Nuuti akkuma qaraa Israa'eloota injifatiisatti jirra» jedhanee yaadane.

Israa'elooti ammoo, «Gara duubaa baqatanee qachaa irraa fagaatanee kara'atti akka bayanu isaan goona» jedhane.

³³ Maarre loltooti Israa'elii duudiin gara duubaa addee, «Ba'aal Taamaar» jedhantutti addee qabatane; loltooti qachaa Giibe'aa gara aduun seentutti riphaneeranu ori'anee bayane.

³⁴ Israa'eloota mara keessaa loltooti kuma kudhan filamanee, qachaa Giibe'aa loliisaaf dhufane; lolli sunille lola jaba'a. Worri Beniyaaminii ammoo badiin akka isaanitti dhikaatte hin hubanne.

³⁵ Mootiin Waan Maraa Israa'elooti worra Beniyaaminii akka injifatanu godhe. Israa'elootille guyyaa san loltoota Beniyaaminii ta shallaagaa hidhatte kuma diddamii shanii fi dhibba tokko ijjeesane.

³⁶ Achiin duuba worri Beniyaaminii akka injifatame hubate.

Israa'elooti loltoota ifii worra adaala qachaa Giibe'aatitti akka riphanu goote waan addatteef, worra Beniyaaminiitiif addee lakkitte.

³⁷ Loltooti riphaneeranu ariiti'iin gara qachaa Giibe'aa ori'anee, namoota qachaa keessaa duudii shallaaga'aan ijjeesane.

³⁸ Worri Israa'elootaa loltoota riphane woliin qachaa keessaa beessisa duumensa aaraa akka ol kaasanu, woliin galtee godhaneeraniyyu.

³⁹ Achiin duuba worri Israa'elii lola irraa duubatti deebi'ane; worri Beniyaaminii ammoo Israa'eloota soddoma waan ijjeesaneeranuuf, «Akkuma lola qaraa nuuti isaan injifatiisatti jirra» jedhanee yaadan.

⁴⁰ Te'uu malee duumensi aaraa qachaa keessaa yennaa ol ka'iisa jalqabe, worri Beniyaaminii ifiin duuba garagalanee, aarri qachaa duudi'ii gara gubba'aa ka'uun dhaggane.

⁴¹ Achiin duuba Israa'elooti deebi'anee lolane; worri Beniyaaminiille badii isaanitti dhikaatte waan dhagganeef bararaqane.

⁴² Tanaaf isaan Israa'eloota duraa gara goomole'ee gula baqatane; te'uu malee loltoota Israa'elii jalaa bayiisaaf hin dandeenne; worri qachaa keessaa gad bayiisatti jiru wodhakka'atti isaan ijjeesane.

⁴³ Loltooti Israa'elii worra Beniyaaminii marsanee, haga addee qachaa Giibe'aa irraa gara aduun baatu jirtuutitti isaan ari'ane fixane.

⁴⁴ Loltooti Beniyaaminii worri jajjabaan marti kum kudhanii saddeeti ijjeefamane.

⁴⁵ Yennaa isaan gara goomole'ee gula rassaa Rimooniititti baqatane, loltooti Israa'elii karaa irratti namoota kuma shan isaan keessaa ijjeesane; haga Giidomiititti ari'anee namoota kuma lama dabalane ijjeesane.

⁴⁶ Guyyaa san loltooti Beniyaaminii worri jajjabaan shallaagaa hidhatane kum diddamii shan dhumatane.

⁴⁷ Namooti dhibbi jaa ammoo, deebi'anee gara goomole'ee gula rassaa Rimooniititti baqatane, achitti ji'a afur turane.

⁴⁸ Israa'elooti gara lafa worra Beniyaaminii duubatti deebi'anee, namoota, hori'ii fi waan qachaa keessatti dhaggane mara shallaaga'aan ijjeesane; qachoota itti dhufane maralle ibiddaan gubane.

21

Israa'elooti Gosa Beniyaaminiitiif Niitota Kennane

¹ Israa'elooti qachaa Miispha'aatitti wolitti qabamanee, «Nu keessaa nami tokkolle durra ifii gosa Beniyaaminii hin heerumsiisin» jedhanee wol kakachiisaneeraniyyu.

² Israa'elooti gara Bet'elii dhaqanee, haga galgalaatitti achi tee'anee, Waaqa duratti qoonqoo ol qabatane wiiccifatanee bowanee,

³ «Ee Mootii Waan Maraa, Waaqa Israa'elii, wonni kun Israa'el irratti maaf teete? Maaf adha Israa'el keessaa gosi tokko dhabante?» jedhane.

⁴ Boruyyaa kolbaan barii kaatee, achitti addee ciinca'aa ijaartee, kennansa gubamuu fi kennansa tokkumma'aa* dhikeessite.

⁵ Israa'elooti, «Nami qachaa Miispha'aatitti Mootii Waan Maraa duratti hin dhaggamin hafe ijjeefamuu ti» jedhanee waan wol kakachiisaneeranuuf, «Nuuti Mootii Waan Maraa duratti yennaa wolitti qabanne gosi Israa'elii ka hin dhufin hatte jirtii?» jedhanee wol gaafatane.

⁶ Israa'elooti obboleeyyan ifii gosa Beniyaaminiitiif gaddanee, «Adha Israa'el keessaa gosi takkaan baddeerti.

⁷ Nuuti durra teenna akka isaaniif hin kennine maqaa Mootii Waan Maraatiin waan kakanneerruuf, namoota Beniyaaminii ka hafane kana eessaa niitii fuusinna ree?» jedhane.

⁸ Achiin duuba isaan, «Gosa Israa'elii keessaa fuula Mootii Waan Maraa duratti qachaa Miispha'aatitti ka hin dhufin jiraa?» jedhanee wol gaafatane; kunoo qachaa Yaabesh-Giil'aad irraa nami tokkolle gara wol geyi'ii akka dhufee hin jirre hubatane.

⁹ Yennaa kolbaa laakkowane, kolbaa qachaa Yaabesh-Giil'aadii keessa nami tokkolle achi hin jiruuyyu.

¹⁰ Kanaaf wolde'i sun worra jajjaba keessaa kuma kudha lama erganee, «Gara qachaa Yaabesh-Giil'aadii dhaqa'aatii worra achi le'u dubartootaa fi ijoolleelle adoo hin hamburin,

* **21:4** Kennansa tokkumma'aa: Yookiin nageya.

¹¹ dhiiraa fi dubartoota dhiira woliin ratte duudii ijjeesa'a» jedhanee ajajane.

¹² Isaan namoota qachaa Yaabesh-Giil'aad keessa le'u duudii keessaa durra dhibba afur dhagganee, gara qachaa Shiilo'oo addee quttuma ifii ta lafa Kana'aanii keessa jirtuu fidane.

¹³ Achiin duuba wolde'i duudiin namoota Beniyaaminii worra rassaa Rimoonii keessa jirutti erganee nageenni akka bu'e lassii dabarsane.

¹⁴ Tanaaf worri Beniyaaminii deebi'ane; Israa'elootille durra Yaabesh-Giil'aad keessaa baraaree hafane, isaan fuusisane. Durri sun ammoo isaan mara hin geenne.

¹⁵ Mootiin Waan Maraa worra Beniyaaminii gosa Israa'elii irraa gargar waan baaseef, kolbaan Israa'elii gosa Beniyaaminiitiif gaddite.

¹⁶ Maarre sooressitooti wolde'aa, «Gosa Beniyaaminii keessa dubartiin dhibiin waan hin hafiniif, namoota hafane kana eessaa niitii fuusinna ree?

¹⁷ Gosi takkaan Israa'el keessaa akka hin banne, gosi Beniyaaminii ka isaan dhaalu qabaattuu ti.

¹⁸ Te'uu malee nuuti, «Durra ifii gosa Beniyaaminii ka heerumsiise ka abaame te'uu ti» jennee waan wol kakachiinnneerruuf, durra teenna isaan hin heerumsiinnu» jedhane.

¹⁹ Achiin duuba isaan, «Kunoo, qachaa Shiilo'oo ka qachaa Bet'elii irraa gara kaabaa, Lebonaa irraa gara kibbaa, karaa qachaa Bet'elii ka gara qachaa Sheekemii geessu irraa gara aduun baatu jirtuutitti, jilti Mootii Waan Maraa wogguma wogga'aan jilifanti» jedhanee yaadane.

²⁰ Maarre isaan gosa Beniyaaminiitiin, «Dhaqa'aatii muka woyni'ii keessatti ripha'aatii,

²¹ eega'a; yennaa durri Shiilo'oo jila keessatti sirbiisaaf dhuttu, muka woyni'ii keessaa rukkiisa'aa baya'aatii, tokko tokkoon keessanuu durra Shiilo'oo buta'aa niitii godhadha'aatii, gara lafa Beniyaaminii deema'a.

²² Abbootiin isaanii yookiin obboleeyyan isaanii dhufanee yoo nutti himatane, nuuti isaanii, «Yennaa lolaa, isaan maraayyuu niitii fuusisiisaaf durra hin dhaggine; isinille durra teessan waan itti hin heerumsiisiniif, yakkaa hin qaddanu; tanaaf nu'uuf jedha'aatii mararti'iin isaan ilaala'a» hin jenna» jedhane.

²³ Worri Beniyaaminii akkuma isaan jedhane godhane; duraa sirbitu san keessaa tokko tokkoon isaaniituu butanee niitii godhatane. Achiin duuba gara lafa ifii deebi'ane, qachootalle deebisane ijaarratane keessa qubatane.

²⁴ Yennuma san Israa'elooti achii ka'ane, gara gosa gosa ifitii fi gara maatii maatii ifii, tokko tokkoon isaaniituu gara lafa ifii deebi'ane.

²⁵ Yennaa san Israa'elooti mootii waan hin qanneef, nami martinuu waanuma fedhe godhaayyu.

Kitaaba Ruutii Seensa

Dabarsiin Ruutii ta nageyaan guutante, bara hammeennaa ka kitaaba abbootii mura'aa keessatti himame keessa dhaggante. Dubartii biyya Mo'aabii ta teete, Ruuti, namicha Israa'elicha tokko heerumtee turte. Inni yennaa du'e, Ruuti, haadha sodda'aa ta ifii Israa'elitti'iif addatamummaa baaseffachiittu mudhittee, Waaqa Israa'eliitiifille gad fageennaan ifi ken-nite. Muummee irratti, fira dhirsa isi'ii ka durii keessaa, dhirsa dhibii heerumtee, karaa heeruma kanaatiin, mooticha Israa'elii guddaa ka te'e, abuuboo Daawitii teeti.

Dabarsiin kitaaba abbootii mura'aa keessa jirtu, kolbaan Waaqaa yennaa isa irraa fagaatte badii isaan irra geette mudhitti. Dabarsiin kitaaba Ruutii keessaalle, dubartii ormaa ta gara Waaqa Israa'elii deebite takka eebba isiin dhaggattee fi golii kolbaa addatantuu Waaqaa akka isiin teete mudhitti.

Haadhoo Dubbi'ii

Naa'oom Ruuti woliin gara Beeteelemii deebite *1:1-22*

Ruuti Bo'aziin wol dhaggite *2:1–3:18*

Bo'az Ruuti fuudhe *4:1-22*

Eliimelekii Fi Maatiin Isaa Biyya Mo'aabiititti Godaanane

¹ Bara durii, yennaa abbootiin mura'aa biyya Israa'elii bulchitu, beelti biyyatti buunaan, namichi tokko ka qachaa Beeteelemii lafa Yihuda'aa keessaa, haadha manaa ifiitii fi ijoollee ifii ta dhiiraa lamaan woliin gara lafa Mo'aabii godaane.

² Maqaan namicha sanii Eliimelek; haati manaa isaalle Naa'oom; ilmaan isaa lamaan ammoo Maahiloonii fi Kiliyoon. Isaan dhalootaan worra Efraata'aa, ka qachaa Beeteelemii lafa Yihuda'aa keessaa ti. Isaan biyya Mo'aabii dhaqanee achi qubatane. Adoo achi le'anuu,

³ abbaan manaa Naa'oomii, Eliimelek du'e. Isiin ilmaan ifii lamaan woliin hatte.

⁴ Isaan lamaanuu durra gosa Mo'aabii fuudhane; maqaan takka'aa Or-pha'a, tuun ammoo Ruuti. Gara woggaa kudhanii achi le'aneeranuun,

⁵ Maahiloonii fi Kiliyoonille du'ane; tanaaf Naa'oom abbaa manaa ifiitii fi ilmaan ifii lamaanuu dhaddee hatte.

Naa'oomii Fi Ruuti Gara Beeteelemii Deebi'ane

⁶ Naa'oom adoo biyya Mo'aabii jirtuu, akka Mootiin Waan Maraa kolbaa ifii qaabatee midhaan kenneef waan dhageetteef, niitota ilmaan ifii woliin gara biyya Yihuda'aa deebi'iisaaf kaate.

⁷ Maarre isiin addee le'aa turte sanii kaatee, niitota ilmaan ifii lamaanuu woliin gara biyya Yihuda'aa deebi'iisaaf deemiisa jalqabane.

⁸ Naa'oom ammoo niitota ilmaan ifii lamaaniinuu, «Gara mana haadhotii teessanii deebi'a'a. Akkuma isin anaa fi worra isin irraa du'eef dansaa gootane, Mootiin Waan Maraa waan dansaa isinii godhu.

⁹ Tokko tokkoon keessanuu deebitanee heerumtane, bulii dansaa akka dhaggattanu Mootiin Waan Maraa isin qarqaaru» isaaniin jette.

Achiin duuba isiin sunqattee nageya itti dhaante; isaan ammoo iyyanee bowanee,

¹⁰ «Waawwo'o, nuuti si woliin gara kolbaa teetii ideenna» isi'iin jedhane.

¹¹ Naa'oom ammoo, «Durra tiyya, deebi'a'a, maaf na woliin deentan? Ani ilmaan dhibii ta isin dhaaltu gadhaa kiyya keessaa qaba seetanii?

¹² Durra tiyya, deebi'a'a, karaa keessan qabadha'a, ani akka malee waan dulloomeef hin heerumu. Ani silaa yoo addii qabaadheeyyuu, edanu-maayyuu heerumee, ilmaanille deye,

¹³ haga isaan gugurdatanutti hin eegattanii? Tanaaf jettanee heeruma dhaddanii ree? Waawwo'o, durra tiyya, waan harki Mootii Waan Maraa natti fideen, akkas te'uun keessan guddoo na gaddisiitteerti» isaaniin jette.

¹⁴ Achiin duuba isaan ammalle iyyanee wolitti bowane. Orphaan haadha sodda'aa ifii sunqattee nageya itti dhaante, Ruuti ammoo itti maxxante.

¹⁵ Maarre Naa'oom, Ruutiin, «Ilaa, Masaanuun teeti gara kolbaa ifitii fi waaqota ifii deebiteerti; atille masaanuu* teeti gula deebi'i» jette.

¹⁶ Ruuti ammoo, «Si biraa akka deemu yookiin duubatti akka deebi'u na hin uttisin! Addee ati deentu, anille hin deema; addee ati leetu, anille hin le'a; kolbaan teeti kolbaa tiyya, Waaqi keeti Waaqa kiyya naa hin te'a.

¹⁷ Addee ati itti duututti, anille hin du'a; achitti hin awwaalama, du'a malee wonni si irraa gargar na baasu yoo jiraatte, Mootiin Waan Maraa natti muruu ti!» jette.

¹⁸ Naa'oom akka Ruuti isii woliin deemiisaaf murteeffatte yennaa dhag-gite, dabaltee womaa hin dubbanne.

¹⁹ Maarre isaan lamaan haga Beetelem geyanutti deemane. Yennaa isaan Beetelem geyane, qachaan duudiin sababa isaaniitiif girrise; dubartootille, «Tun dhugumaan Naa'oomii?» jedhane.

²⁰ Isiin, «Naa'oom† jettanee na hin waamina'a, Waaqi Waan Mara Dande'u jiruu tiyya waan natti hadheesseef, «Maaraa‡» naan jedha'a!

²¹ Guutuu asii baye, Mootiin Waan Maraa ammoo duwwaa deebisee na galche; eega Mootiin Waan Maraa na rakkisee, Waaqi Waan Mara Dande'u waan hantuu natti fidee, maaf, «Naa'oom» naan jettan?» jetteen.

²² Maarre Naa'oom niitii ilma ifii, ta gosa Mo'aabii, Ruuti woliin, biyya Mo'aabii irraa deebite. Isaan yennaa jalqaba haammaa garbu'uu qachaa Beetelemii geyane.

2

Ruuti Fichaa Bo'azii Keessaa Woxoo Qocatte*

¹ Naa'oom namicha dureessa beekkamaa, worra Eliimelekii ka te'e, Bo'az ka jedhamu, fira dhirsa isi'ii ka te'e tokko qaddiyyu.

² Gaafa tokko intalti gosa Mo'aabii Ruuti, Naa'oomiin, «Me gara fichaa nama fuula isaa duratti fudhatama dhaggadhuu dhagee duubaan woxoo qocadha» jette; Naa'oomille, «Intala tiyya, deemi» jetteen.

³ Maarre isiin dhaxxee, fichaa keessa worra midhaan haamu duubaan woxoo qocatte. Ada fichaan isiin woxoo qocattuun sunuu, fichaa Bo'azii worra Eliimelekiitiyyu.

⁴ Yoosuma Bo'az Beetelem irraa dhufee, worra midhaan haamuun, «Mootiin Waan Maraa isin woliin jiraatu» jedhee nageya fuudhe. Isaan deebisane, «Mootiin Waan Maraa si eebbisu» jedhane.

⁵ Achiin duuba Bo'az, «Intalti dargaggeettiin tun ta eennuuti?» jedhee itti gaafatamaa worra midhaan haamuu gaafate.

⁶ Tajaajilichi itti gaafatamaan worra midhaan haamuu sun deebisee, «Isiin intala Naa'oom woliin biyya Mo'aabii irraa dhutte.

* **1:15 Masaanu:** Masaanuun tun niitii obboleessa dhirsa isi'ii ti. † **1:20 Naa'oom:** Afaan Ibrootaatiin Gammada yookiin gammachiisaa jechu'u. ‡ **1:20 Maaraa:** Afaan Ibrootaatiin Gadda yookiin hadhowaa jechu'u. * **2: Woxoo:** Naannoo tokko tokkotti Deeggee jedhama.

⁷ Isiin, anaan «Magganne'ee, worra midhaan haamu duubaan odduu ladde'eetii† woxoo qocadha» jette. Ganamaa jalqaddee haga ammaa woxoo qocataa turtee, amma gaaddisa jalatti diqqoo foora fudhatiisatti jirti» jedhe.

⁸ Achiin duuba Bo'az Ruutiin, «Intala tiyya, na dhage'i; dubartoota hojjattoota as jirtu gula woxoo qocadhu malee, fichaa kana lakkittee, fichaa dhibii keessaa woxoo qocatiisaaf hin dhaqin.

⁹ Fichaa isaan haamanu ilaan qabii, isaan faana deemi. Dargaggeeyyiin dhiiraa akka si hin nunnussine ani ajajeera. Yennaa dheebotte, okkotee isaanii keessaa dhaqii uni» jedheen.

¹⁰ Achiin duuba Ruuti fuulaan lafatti gad jiddee, «Ani orma tokko yennaa te'u, ati akka naa yaadattu, fuula keeti duratti maaf fudhatama dhaggadhe?» isaan jette.

¹¹ Bo'az ammoo deebisee, «Haga abbaan manaa keeti du'ee wonni ati haadha sodda'aa teetii goote marti, abba'aa fi haadha teeti, lafa itti dhalatelle lakkittee gara kolbaa duraan hin beennee attam akka dhutte, guutumatti martinuu natti himameera.

¹² Hujii teetiif Mootiin Waan Maraa sii kaffalu. Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, ka bobaa isaatitti dheette kaffaltii guutuu sii kaffalu» jedhe.

¹³ Achiin duuba Ruuti, «Ani tajaajiltoota teeti keessaa takkaa te'uu dhabulle, waan na jajjabeessitee ana tajaajiltuu teetitti gadhi laafinnaan dubbatteef, gootaa kiyya, fuula keeti duratti ani fudhatama hin dhabin» jette.

¹⁴ Yennaa sagalee nyaataatitti Bo'az, isi'in, «As koy, daabboo tana itto'otti cuuphadhuu nyaadhu» jedheen; maarre isiin worra midhaan haamu bira teette; Bo'azille akum'ee garbuu sanii isii dura qabe. Isiin haga quuttutti nyaattee, hambaalle hatteef.

¹⁵ Yennaa isiin woxoo qocatiisaaf kaate, Bo'az hojjattoota ifitiin, «Odduu ladde'eelle'ee woxoo qocattuutii, isii hin xixina'a.

¹⁶ Laddee keessalle'ee luqqisaa, akka isiin woxoo qocattu lakkisa'aaf, isii hin xixina'a» jedhe.

¹⁷ Maarre Ruuti haga galgalaatitti fichaa keessaa woxoo qocatte. Achiin duuba woxoo qocatte san sukkuumatee garbuu gara kiiloo kudhanii te'e.

¹⁸ Ruuti garbuu san fudhattee gara qacha'aa dhuttee, woxoo hagam geettu akka qocatte haadha sodda'aa ta ifiititti mudhitte. Achiin duuba Ruuti nyaattee quutteertuun hambaa irraa hatte fuutee haadha sodda'aa ifiitii kennite.

¹⁹ Haati sodda'aa ta isi'ii, «Ati adha eessaa woxoo qocatte? Eessa hujatte? Nama siif yaade san Waaqi eebbisuu ti» jetteen. Maarre Ruuti, «Maqaan namicha ani adha fichaa isaa keessa hujadhee Bo'az» jettee haadha sodda'aa ta ifiititti hinte.

²⁰ Achiin duuba Naa'oom niitii ilma ifitiin, «Mootiin Waan Maraa ka worra jiruu fi worra du'elle'eef arjummaa ifii hin lakkinne, isa eebbisu» jette. Ammalle Naa'oom, Ruutiin, «Namichi sun fira aanti'ii keenna; inni nama nu dhaalu» jette.

²¹ Achiin duuba Ruuti, «Inni «Haga midhaan kiyya mara haamamee fixamutti, hojjattoota tiyya biraa hin fagaatin» naan jedheera» jetteen.

²² Naa'oom, Ruutii niitii ilma ifitiin, «Intala tiyya, dubartoota hojjattoota isaa waliin hujachuu sii woyya; fichaa nama dhibi'ii yoo dhaxxe si rakkisan fa te'a» jette.

²³ Maarre Ruuti haadha sodda'aa ifii waliin le'aa, dubartoota Bo'azii hojjatanu irraa adoo hin fagaatin, haga qamadi'ii fi garbuun haamamanee fixamanutti woxoo qocatte.

† 2:7 Odduu ladde'eetii: Odduu uma'aatii jechuulle hin dande'ama.

3

Ruuti Abbaa Manaa Dhaggatte

¹ Naa'oomiin haati sodda'aa ta isi'ii, «Intala tiyya, ati mana qabaattu sii dansa'aa, ani bultii sii barbaada.

² Bo'aziin ati dubartoota hojjattoota isaa woliin hujju, fira aanti'ii keenna; kunoo inni galgala adhaa garbuu eeddumme'etti hin qulleeffata.

³ Amma nafa dhiqadhuu, dibadhuu, woyaa adduu teeti uffadhuu gara eeddumme'ee gad dhaqi; ammoo haga inni nyaataa fi unii fixatutti itti hin mudhatin.

⁴ Yennaa inni irkate, addee inni irkate hubadhu; achiin duuba, dhaqiitii miila isaa irraa woyaa saaqiitii miila isaa jalaan irkadhu*; innille waan ati gootu sitti hin hima» isi'iin jette.

⁵ Ruuti deebittee, «Waan maraayyuu akkuma ati jette hin godha» jetteen.

⁶ Maarre Ruuti gara eeddumme'ee gad dhaxxee akkuma haati sodda'aa isi'ii jetteen goote.

⁷ Bo'az nyaatee uneen duuba, gammadaan, tuulaa garbu'uu bira irkati-isaaf dhage. Achiin duuba Ruuti suutaan dhuttee, miila isaa irraa woyaa saaxxee, jalaan irkate.

⁸ Halkan wodhakkaa Bo'az dedhuma dammaqee, garagalee, dubartiin takka, miila isaa jalaan irkateertuun dhaggee baaseffate,

⁹ «Ati eennu?» jedhee gaafate.

Isiille deebittee, «Ani tajaajiltuu teeti Ruuti, gootaa kiyya; ati fira aanti'ii waan teeteef, ati eegunsa naa godhiisaaf itti gaafatamummaa qadda. Tanaaf na dhaali» jetteen.

¹⁰ Inni, «Intala tiyya, Mootiin Waan Maraa si eebbisu; addatamummaan teetii ta ammaa tun ta dur haadha sodda'aa teetiif goote caalti; hiyyeessalle te'ee yookiin dureessa, ati dargaggeeyyii gula hin deenne.

¹¹ Ammalle, intala tiyya, hin sodaatin; akka ati dubartii dansa'aa kolbaan tiyya duudiin waan beettuuf, waan ati na gaafatu mara siif hin godha.

¹² Fira aanti'ii te'uun kiyya dhuguma; te'uu malee na caalaa fira aanticha ka te'e nama dhibi'itti jira.

¹³ Edana as buli; barii, inni yoo si dhaale dansa'a; dhaaluu ti. Inni si dhaaluu ka hin feene yoo te'e, Mootii Waan Maraa jiraata'aan kakadha, ani si dhaala; haga bariitutti irkadhu!» jedheen.

¹⁴ Maarre isiin haga bariitutti miila isaa jala irkate; ammoo gara eeddumme'ee akka isiin dhutte eennulle akka beeku, Bo'az waan hin barbaadiniif, Ruuti barii caararra'aan kaate.

¹⁵ Achiin duuba inni Ruutiin, «Qophisoo uffatteertu as fidii afi» jedhe; isiille atte, innille garbuu gara kiiloo diddamaa itti ba'achiise; achiin duuba isiin gara qacha'aa deebite†.

¹⁶ Ruuti gara haadha soddaa ifii Naa'oomii yennaa deebite, Naa'oom, «Intala tiyya, dubbiin attam sii teete?» jettee gaafatte.

Achiin duuba Ruuti waan Bo'az godheef mara itti odeessitee,

¹⁷ «Inni, «Harka duwwaa gara haadha sodda'aa teeti hin deebi'in» naan jedhee, garbuu gara kiiloo diddamaa kana naa kenne» jette.

¹⁸ Naa'oom deebittee, «Intala tiyya, namichi adha dubbii hobbaasu malee waan hin foorfanneef, haga deebii dubbii tanaa dhaggitutti eegadhu» jette.

* **3:4** Miila isaa irraa woyaa saaqiitii miila isaa jalaan irkadhu: Akka aadaa worra Yihudootaattii dubartiin takka woyaa saaxxee miila nama tokkoo jalaan yoo irkate, na fuudhi jechu'u. † **3:15** Isiin gara qacha'aa deebite: Barreeffam Ibrootaa ka durii gariin Inni gara qacha'aa deebi'e jedha.

4

Bo'az Ruuti Fuudhe

¹ Bo'az gara addee karra yaa'ii qacha'aa dhagee achi tee'e. Namichi fira aantii, ka Bo'az dubbateeru kuun, achiin dabariisaaf dhufe. Maarre Bo'az, «Jaali, koottu me; as tee'i» jedheen. Innille dhagee tee'e.

² Achiin duuba Bo'az jaarsolee qacha'aa nama kudhan fudhatee, «As tee'a'a» jedheen. Yennaa isaan tee'ane,

³ inni namicha fira aantii, «Naa'oom, ta biyya Mo'aabiitii deebite, lafa gooda Eliimelekii fira keennaa gurguratiisaaf barbaaddi.

⁴ Atille marroo waan kanaa beekuu qadda jedhee yaade. Amma, worra as tee'u kanaa fi jaarsolee tana duratti bitadhu. Yoo bitatuu feete, bitadhu; yoo hin feene ammoo, akka beekuuf, natti himi; sababille bitatiisaaf nami dursu'uu male si'i, anille sitti aana» jedhe.

Namichi, «Ani hin bitadha» jedhe.

⁵ Achiin duuba Bo'az, «Guyyaa lafa Naa'oom* irraa bitattu, maqaa namicha du'ee badii dhooggiisaaf, Ruutii Mo'aabittii, haadha hiyyeessaalle hin dhaalta» jedheen.

⁶ Namichi fira aantii, «Yoo akkas teete, ijoolleen tiyya waan hin dhaalleef ani hin bitadhu; ani waan hin bitanneef, haqa kiyya fudhadhuutii atummaan bitadhu» jedhe.

⁷ Dur biyya Israa'elii keessatti, bitataa fi jijjiirata irratti: dubbii mirka-neessiisaaf, nami tokko kophee baafatee kaaniif kenniis aada'a; Israa'el keessatti akka kanaan bitta'aa fi jijjiirraan seera qabeessa te'a.

⁸ Tanaaf namichi fira aantii kuun, Bo'aziin, «Atummaan ifumaaf bitadhu» jedhee kophee ifi baafatee kenne.

⁹ Achiin duuba Bo'az jaarsolee fi kolbaa achi jirtu maraan, «Waan Eliimelekii, waan ilmaan isaa Kiliyoonii fi Maahiloon qabanulle maraayyuu, adha ani Naa'oom irraa akka bitadhe isin dhugaa tiyya.

¹⁰ Karra isaa irratti maqaa namicha du'ee badii dhooggiisaaf, biyya itti dhalatee fi kolbaa isaa keessaa maqaan isaa akka hin banne, Ruutii biyya Mo'aabii ta Maahiloon irraa du'e, akka niitii naa teetu, ani fuudheera. Tana duudi'iif isin adha dhugaa tiyya» jedhe.

¹¹ Achiin duuba jaarsolee fi kolbaan addee yaa'ii jirtu marti, «Ee, nuuti dhugaa sii teena. Mootiin Waan Maraa dubartii gara mana keetii dhufaartu tana, akka Raahelii fi Liyaa ijoollee Yaaqoobiif horanee si'iif godhuu ti. Efraataa keessatti hori; Beeteelem keessalle'etti beekkam.

¹² Ilmaan Mootiin Waan Maraa karaa intala tanaatiin sii kennuun, maatiin teeti akka maatii Faaresii, ka Taamaa Yihuda'aaf deettee teetu» jedhane.

Sanyii Daawitii

¹³ Maarre Bo'az Ruuti fuudhee niitii teeteef. Yennaa isaan wol bira geyane, Mootiin Waan Maraa isii eebbisee, isiin ulfoottee ilma deette.

¹⁴ Achiin duuba dubartooti qachaa Beeteelemii, Naa'oomiin, «Ka akkoo si kunuunsu adha sii kenne, guddinni Mootii Waan Maraatiif te'u. Israa'el keessatti maqaan muca'aalle ka beekkame te'u!

¹⁵ Niitiin ilma keetii si jaalatti; ilmaan torba sii caalti. Amma ilma bara dullummaa teetii si soorachiisuu fi jiruu teeti haareessu sii deetteerti» jedhaneen.

¹⁶ Achiin duuba Naa'oom mucaa fudhattee habbaaratte; kunuunsitelle gudditte.

* 4:5 Naa'oom irraa: Hiikkaan durii durii gariin Naa'oomii fi Ruuti irraa jedha.

¹⁷ Dubartooti ollaa sanii, «Ilmi Naa'oomiif laa dhalate» jedhanee, maqaa muca'aa, «Yoobeed» baasane.

Yoobeed abbaa Iseyii ti; Isey abbaa Daawitii ti.

¹⁸ Sanyiin Faaresii isaan kana: Faares, Hesrom uumate,

¹⁹ Hesrom, Raam uumate; Raam, Aminaadaab uumate,

²⁰ Aminaadaab, Nahasoon uumate; Nahasoon, Salmoon uumate.

²¹ Salmoon, Bo'az uumate; Bo'az, Yoobeed uumate;

²² Yoobeed, Isey uumate; Isey Daawiti uumate.

Kitaaba Saamu'elii Ka qaraa Seensa

Kitaab Saamu'elii ka qaraa Israa'elooti bulchiinsa abbootii mura'aa irraa gara bulchiinsa mootummaa mooti'iititti akka dabarane mudhisa. Jijji-iram kun irra caalaa jiruu namoota sad keessatti Israa'el keessatti te'e; isaan keessaa abbootii mura'aa gugurdoo ta dhuma irraa keessaa ka tok-keesso'oo Saamu'el; ka lammeesso'oo mootii Israa'elii ka jalqabaa Saa'ol; ka sadeesso'oo ammoo Daawiti ka aangoo adoo hin qabatiniin dura jiru, ka dabarsiin isaa dabarsii Saamu'eliitii fi Saa'olii woliin wol qabatteertu.

Ergaan guddoon kitaaba kanaa akkuma kitaabota dabarsi'ii ka kitaabota Gondooroo Qaraa keessatti dhaggamanuu, Waaqaaf addatamiis milkii akka fiddu, addatamiisa dhabiiis badii akka fiddu mudhisa. Kunille Mootiin Waan Maraa hayyicha Eli'iin, «Ani worra ulfinna naaf kennu, ulfinna isaaniif hin kenna; worra na tuffatu hin salphisa» jedhee jecha dubbateen ifa te'ee mudhata (2:30). Kitaab kun yaada garagaraa ka marroo hundeeffamiisa mootummaa mooti'ii mudhisa; dur mootii Israa'elii dhugicha te'ee ka beekkame isuma Mootii Waan Maraa ti. Ammoo gaaffii duuba irra kolbaan gaafateen, Mootiin Waan Maraa isaaniif mootii file. Wonni barbaachisaan garuu mooti'ii fi kolbaan Israa'elii ol-aantummaa'aa fi mura'aa Waaqaa jala jiraatiisa. Kunille seera Waaqaa jalatti haqi namootaa ka worra dureeyyi'iitii fi ka worra hiyyeeyyi'ii sirri'itti kabajamuu akka qabu ka mudhisu.

Haadhoo Dubbi'ii

Saamu'el Abbaa Mura'aa Ka Israa'elii te'e 1:1–7:17

Saa'ol Mootii Te'e 8:1–10:27

Woggoota Qaraa Ka Bulchiisa Saa'olii 11:1–15:25

Saa'olii Fi Daawiti 16:1–30:31

Du'a Saa'oliitii Fi Du'a Ilmaan Isaa 31:1-13

Elqaana'aa Fi Maatiin Isaa Gara Shiilo'oo Ol Bayane

¹ Biyya koobittii Efreemii, qachaa «Raamataayim-Zofiim» jedhamu keessa namichi, «Elqaanaa» jedhamu tokko jiraayyu; inni abutturoo Zuufii, abuuboo Tohuu, akaakoo Eliihu'uu, ilma Yerohaamii ti.

² Inni haadha manaa lama qaba; maqaan takkatti'ii Haannaa, ta taanii ammoo Phiniina'a. Phiniinaan ijoollee qaddi; Haannaan ammoo hin qaddu.

³ Elqaanaan wogguma wogga'atti Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dade waaqonfatiisaa fi ciincaa dhikeessiisaaf qachaa ifiitii gara Shiilo'oo deemaayyu; achitti ilmaan Eli'ii lama Hofnii fi Fiinehaas hayyoota Mootii Waan Maraa te'anee tajaajilaniyyu.

⁴ Elqaanaan yennaa ciincaa dhikeessu mara foon ciinca'aaf dhikaate san irraa haadha manaa ifii Phiniina'aaf, ilmaan isi'iitii fi ijoollee isi'ii ta durraa maraaf qooda hin kennaayyu;

⁵ inni Haannaa waan jaalatuuf qooda dachaa lama isi'iif kenna; te'uu malee Mootiin Waan Maraa isii deya dhooggeeraayyu.

⁶ Mootiin Waan Maraa deya isii waan dhooggeef masaanuun isi'ii isii aarsitee bilinjeessite.

⁷ Tunille wogguma wogga'atti waan teetuuf, Haannaan yennaa gara Galma Mootii Waan Maraa dhaxxu mara, boottee nyaata haga dadhaddutti, masaanuun isi'ii isii bilinjeessiti.

⁸ Abbaan manaa isi'ii Elqaanaan isi'iin, «Haanna'a! Ati maaf bootta? Maaf sagalee hin nyaatin? Maaf gadhaan keeti gadda? Ani ilmaan kudhan si'iif hin caaluu?» jedhee isii gaafate.

Haanna'aa Fi Elii

⁹ Gaafa tokko isaan Shiilo'otti nyaatanee unaneen duuba Haannaan kaatee dhaabbate; Eliin hayyichi garuu mikikkila Galma Mootii Waan Maraa bira barcumaa irra tee'eeraayyu.

¹⁰ Haannaan guddoo gadditee laaleffattee bowaa gara Mootii Waan Maraa daadimatte.

¹¹ Isiin, «Ee Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadde, salphinna na garbittii teetii ilaaltee naa yaadattee, na dedhuu dhaddee, ilma yoo naaf kennite, ani bara jiruu isaa mara isa si'iif hin kenna; rifeensi mataa isaalle ijumaa hin haadamu» jettee waadaa galte.

¹² Haannaan gara Mootii Waan Maraa yennaa daadimataa turte, Eliin afaan isi'ii ilaale.

¹³ Isiille gadhaa ifii keessatti waan daadimattuuf, hidhiin isi'ii hin tachooti malee qoonqoon isi'ii hin dhage'anne; tanaaf Eliin waan isiin machootte seye.

¹⁴ Inni isi'iin, «Ati haga yoomii machootta? Daadhii woyni'ii tana ifi irraa fageessi» jedhe.

¹⁵ Haannaan ammoo deebittee, «Waawwo'o, gootaa kiyya! Ani daadhii woyni'ii yookiin waan nama macheessu hin unne; ani dubartii gadda gaddaa irra jirtu; tanaaf rakkinna kiyya gara Mootii Waan Maraa dhikeeffatisatti jira.

¹⁶ Ani gaddii fi aariin natti bacatanee haga kana mara daadimatiisatti waan jiruuf ana garbittii teeti akka waan woy hin baaneetitti hin laakkowin» jetteen.

¹⁷ Achiin duuba Eliin deebisee, «Nageyaan deemi! Waaqi Israa'elii waan ati isa gaafatte si'iif kennuu ti» jedheen.

¹⁸ Isiille, «Ani garbittiin teeti si duratti fudhatama dhaggadhuu ti» jette. Achiin duuba kaatee ideente; sagalee nyaattee gaddiisalle lakkitte.

Dhalatiisa Saamu'eliitii Fi Waaqaaf Kennamiisa Isaa

¹⁹ Isaan barii ganama ka'anee Mootii Waan Maraa duratti sagadane; achiin duuba gara mana ifii Raama'atti deebi'ane. Elqaanaan haadha manaa ifii Haannaa waliin rafee Mootiin Waan Maraa isii qaabate.

²⁰ Maarre Haannaan ulfoottee yennaan geennaan ilma deettee, «Ani Mootii Waan Maraa gaafadhee isa dhaggadhe» jettee maqaa isaa Saamu'el baafatte.

Saamu'el Mootii Waan Maraatiif Kenname

²¹ Elqaanaan ciincaa wogga'aa Mootii Waan Maraatiif dhikeessiisaa fi waadaa gale muummessiisaaf maatii ifii mara waliin gara Sheelo'oo ol baye.

²² Haannaan ammoo isa waliin ol hin baane; isiin abbaa manaa ifitiin, «Annuun akkuma harma irraa gu'een, ani Mootii Waan Maraa dura isa hin dhikeessa; innille haga bara baraa achi hin le'a» jette.

²³ Abbaan manaa isi'ii Elqaanaan deebisee isi'iin, «Waan sitti tole godhi; inni haga harma irraa gu'u mana turuu ti; Mootiin Waan Maraa callaan waadaa ifii gale muummessuu ti» jedhe; maarre Haannaan haga ilmi isi'ii harma irraa gu'utti, hoosifataa mana turte.

²⁴ Inni yennaa harma irraa gu'e, isiin dardara woggaa sadii, bullaa kiiloo-giraama kudhanii fi daadhii woyni'ii qalqalluu tokko qabattee, mucaa san

gara Galma Mootii Waan Maraa Shiiloo geessite. Inni yennaa san daa'ima diqqa'a.

²⁵ Isaan dardara san yennaa qalane mucaa gara Eli'ii geessane.

²⁶ Haannaan Eli'iin, «Ee gootaa kiyya, ka jiraataa teete; dubartiin as si dura dhaabbattee gara Mootii Waan Maraa daadimataa turte sun ana.

²⁷ Ani mucaa kana akka naaf kennu waan isa gaafadheef, Mootiin Waan Maraa waan ani isa gaafadhe naaf kenne.

²⁸ Tanaaf, anille isa Mootii Waan Maraatiif hin kenna; innille bara jiruu ifii mara Mootii Waan Maraatiif hin kennama» jette. Inni achitti Mootii Waan Maraa waaqonfate.

2

Daadimata Haanna'aa

¹ Haannaan daadimattee,

«Gadhaan kiyya

Mootii Waan Maraatiitti hin gammada;

jabeenni kiyya

Mootii Waan Maraatiin ol ol jedheera.

Inni waan na qarqaareef

ani diinota kiyya irratti hin kolla.

² «Ka akka Mootii Waan Maraa

Woyyichi tokkolle hin jiru;

ka akka isaa tokkolle hin jiru;

rassaan akka Waaqa keennaa
tokkolle hin jiru.

³ Mootiin Waan Maraa Waaqa beekaa

nama mara madaalu waan te'eef

hin koorina'a!

Ifi jajiisaan hin dubbatina'a!

⁴ Guubeen* worra jajjabaa caccabeera;

worri dadhabaan ammoo jabaateera.

⁵ Worri gara quufee le'u

sagalee diqqo'oof qaxarame.

Worri gara beelaan le'u ammoo

amma quufeera.

Maseentittiin torba deetteerti;

ta ijoollee bacaa qaddu ammoo dadhaddeerti.

⁶ Mootiin Waan Maraa ijjeesee hin kaasa;

addee worri du'e jiru gad buusee hin baasa.

⁷ Mootiin Waan Maraa hin hiyyoonsa;

hin duroonsalle'e.

Inni gad hin qaba; olille hin qaba.

⁸ Inni hiyyeessa bukuu irraa ol hin kaasa;

rakkataalle tuulaa daadha'aa irraa ol hin kaasa.

Worra jajjabaa waliin isaan hin teessisa;

barcuma mootumma'aa ka ulfinnaalle

isaaniif hin kenna.

Sababille utubooti biyya lafaa

ka Mootii Waan Maraa ti;

inni biyya lafaa isaan irratti dade.

* **2:4** *Guubeen*: Lafa tokko tokkotti *Buubeejedhama*.

⁹ Nami jabeenna ifitiin waan hin injifanneef,
 Mootiin Waan Maraa
 ideensa worra isaaf addatamee hin eega;
 hamaaleyyiin ammoo
 dukkana keessatti hin badan.

¹⁰ Worri Mootii Waan Maraa mormu
 hin caccaban;
 inni isaan loliisaaf
 ol gubbaa irraa hin balaqqisa.

Mootiin Waan Maraa
 biyya lafaa mara irratti
 mura'a hin kenna;
 inni nama ifii mootii godheef
 jabeenna hin kenna;
 nama ifii muudelle'eef
 ulfinna hin kenna» jette.

¹¹ Achiin duuba Elqaanaan gara mana ifii Raama'atti dhaggamuu deeme;
 mucaan ammoo Elii hayyicha duratti Mootii Waan maraa tajaajile.

Ilmaan Eli'ii Ta Bu'aa Hin qanne

¹² Ilmaan Eli'ii ilmaan bu'aa hin qanne; isaan Mootii Waan Maraa hin beenne.

¹³ Yennaa nami tokko ciincaa dhikeessu aadaa hayyooti kolbaa woliin qaddutti jira; foon ciinca'aaf dhikaate yennaa iffeelamu tajaajilaan hayyichaa filaa foonii ka quba sad qabu qabatee dhufa;

¹⁴ inni filaa foonii san okkotee foon itti iffeelamu san keessa keyee waan filaan sun baase mara hayyichi ifiif fudhata; isaan Israa'eloota gara Shiilo'oo dhufane mara irratti tanuma godhan.

¹⁵ Moorri adoo hin gubaminiin dura, tajaajilaan hayyichaa gara nama ciincaa dhikeessuu dhufee, «Hayyichi foon dheedhii malee ka iffeelame waan si irraa hin fudhanneef, foon isaaf woddu natti kenni» jedha.

¹⁶ Nami sun isaan, «Qara isaan moora gubannu ti; achiin duuba haga barbaadde fudhadhu» yoo isaan jedhe, tajaajilaan hayyichaa, «Waawwo'o, ammuma kenni! Yoo didde hunnaan fuudha» jedhaayyu.

¹⁷ Ciincaa Mootii Waan Maraatiif dhikaatu waan tuffataneef, cubbuu ilmaan Eli'ii tun Mootii Waan Maraa duratti guddoo teete.

¹⁸ Saamu'el adoo daa'imaatuu woyaa hayyumma'aa ta qomaa ta quncee talba'aa irraa hujante uffatee, Mootii Waan maraa tajaajile.

¹⁹ Haati isaa abbaa manaa ifii woliin wogguma wogga'aan ciincaa dhi-keessiisaaf yennaa dhaxxu mara qoloo diqqoo takka hujjee wogguma wogga'aan isaaf geessitiyyu.

²⁰ Achiin duuba Eliin, «Addee mucaa isiin daadimattee Mootii Waan Maraa irraa dhaggattee isaaf kennite sanii, Mootiin Waan Maraa dubartii tana irraa sanyii dhibii si'iif kennuu ti» jedhee Elqaana'aaf haadha manaa isaa eebbise.

Achiin duuba isaan gara mana ifii deebi'ane deemane.

²¹ Mootiin Waan Maraa Haannaa yaadatee, isiin ulfoottee ilmaan sadii fi ijoollee durraa lama deette. Saamue'eliin dargaggeessichille Mootii Waan Maraa duratti guddate.

Eli'ii Fi Ilmaan Isaa

²² Eliin guddoo dulloome; ilmaan isaa Israa'eloota mara keessatti waan godhiisatti jiranuu fi dubartoota seensuma Dunkaanii Woldeenna'aa dura tajaajilanu woliin attam akka isaan sagaagalane dhage'e.

²³ Inni isaaniin, «Ani hammeenna hujii teessanii kolbaa mara irraa waan dhage'uuf, isin maaf tana hujjan?

²⁴ Waawwo'o, ilmaan tiyya! Oduun kolbaa Mootii Waan Maraa keessa facaatuun ani dhage'u tun dansa'aa moti.

²⁵ Nami tokko yoo nama yakke Mootiin Waan Maraa wodhakkaa galee muraa hin kenna; nami tokko yoo Mootii Waan Maraa yakke ammoo eentu wodhakkaa galee muraa kenna ree?» jedheen.

Te'uu malee Mootiin Waan Maraa akka isaan du'anuu waan barbaadeef, isaan gorsa abbaa ifii hin dhageenne.

²⁶ Saamu'eliin dargaggeessichi hojja'aa fi fudhatama dhaggatiisaan Mootii Waan Maraatii fi nama duralle'etti guddate.

Raaga Maatii Eli'ii irratti Dubbatame

²⁷ Raagaan tokko gara Eli'ii dhufee, «Mootiin Waan Maraa, «Abbootiin teeti ta durii biyya Gibxi'ii keessatti Fara'ooniif garboota yennaa te'ane, ani isaanitti hin mudhannee ree?

²⁸ Akka inni hayyuu naaf te'u, akka inni ciincaa naaf dhikeessu, akka inni hixaana naaf aarsu, akka inni na duratti woyaa hayyumma'aa ta qomaa uffatu, gosa Israa'elii mara keessaa ani abbaa abbootii teetii ta durii filadheera; ciincaa gubamu ka Israa'elooti duri naaf dhikeessitu mara ani sanyii abbaa keeti ka duriitiif kenne.

²⁹ Isin ciinca'aa fi kennansa addee bultuma tiyyaatitti akka naaf dhikaatu ani ajaje maaf tuffatane? Ilmaan teeti kennansa kolbaan tiyya Israa'el naaf dhikeessitu irraa dadansaa nyaatanee akka fufurdatanu, ati maaf na caalaa isaaniif ulfinna kennite?

³⁰ Tanaaf, Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii: Ani maatii teetii fi maatiin abbaa keetii haga bara baraa akka ana tajaajilanu waadaa galeeraayyu; amma ammoo tun ijumaa hin teetu; worra ulfinna naa kennuuf, anille ulfinna isaaniif hin kenna; worri na tuffatulle ijumaa hin tuffatama.

³¹ Kunoo, sanyii teeti keessatti jaarsi akka hin dhaggane, guyyaan ani si'ii fi maatii abbaa keetii balleessu dhikaateera.

³² Achiin duuba ati addee bultuma tiyyaatitti rakkinna hin dhaggita; wonni dansaan Israa'eliif teetulle, maatii teeti keessatti jaarsi hin dhaggamu.

³³ Nama keeti keessaa akka inni addee ciinca'aa tiyya tajaajiluuf, ka ani jiru'uun lakkisu, ilti teeti akka jaamtuu fi gadhaan keeti akka gadduuf, sababa hin te'a; garuu sanyiin teeti marti shallaaga'aan hin dhumatti.

³⁴ Ilmaan teeti lama Hofnii fi Fiinehaas irratti wonni te'u beessisa si'iif hin te'a; isaan lamaanuu guyyuma tokko hin du'an.

³⁵ Ani hayyicha addatamaa ka akka gadhaa kiyyaatii fi akka yaada kiyyaa na tajaajilu hin kaafadha; ani mana isaa jabeessee hin dhaaba; innille haga bara baraa nama ani muudadhe hin tajaajila.

³⁶ Sanyii teeti keessaa nami lubbu'uun hafe marti gara hayyicha sanii dhaqee, beesee diqqoon yookiin daabboo xaltaa tokko dhaggatiisaaf isa duratti sagadaa: Maganne'e, sagaluma guyyaa guyya'aan afaaniin qabu callaa akka dhaggadhu hujii hayyumma'aa ta feetelle teetu naaf kenni jedhaa isa hin kadhata jedha» jedhe.

3

Mootiin Waan Maraa Saamu'el Waame

¹ Saamu'eliin dargaggeessichi Elii duratti Mootii Waan Maraa tajaajilaayyu; bara san Mootiin Waan Maraa yennaa tokko tokko malee, namatti hin dubbatu; mudhiin bacaalle hin jirtu.

² Eliin dulloomee, ilti isaa waan caararrooteef, gaafa tokko taqee ifii irra irkateeraayyu.

³ Saamu'elille addee Saanduqi Gondooro'oo ka Waaqaa jiru, Dunkaanii Woyyittii Mootii Waan Maraa keessa irkateeraayyu. Issaan Waaqaalle adoo hin dhaamin jiraayyu.

⁴ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Saamu'el waamee, innille, «Kunoo, ani as jira!» jedhee,

⁵ gara Eli'ii fiigee, «Ati waan na waanteef, kunoo, ani as jira» jedhe.

Eliin ammoo, «Ani si hin waanne deebi'ii rafi» jedheen; maarre innille deebi'ee rafe.

⁶ Ammalle Mootiin Waan Maraa Saamu'el waamee, innille ka'ee gara Elii dhagee, «Ati waan na waanteef, kunoo, ani as jira» jedheen.

Eliin ammoo, «Ilma kiyya, ani si hin waanne; deebi'ii rafi» jedheen.

⁷ Tanaan qara Saamu'el Mootii Waan Maraa hin beeku; jechi Mootii Waan Maraalle isatti mudhatee hin beeku.

⁸ Ammalle Mootiin Waan Maraa yennaa sadeesso'oo Saamu'el waame; innille ka'ee gara Eli'ii dhagee, «Ati waan na waanteef, kunoo, ani as jira» jedheen.

Achiin duuba Eliin akka Mootiin Waan Maraa Saamu'el waamiisatti jiru hubate.

⁹ Tanaaf, Eliin Saamu'eliin, «Dhaqii rafi; inni ammalle yoo si waame, «Kunoo, ani garbichi keeti waan as jiruuf dubbadhu» jedhiin» jedhe. Maarre Saamu'elille deebi'ee taqee ifii irra rafe.

¹⁰ Mootiin Waan Maraa dhufee achi dhaabbate; akkuma qaraa, «Saamu'el! Saamu'el!» jedhee waame;

Saamu'elille, «Kunoo, ani garbichi keeti dhage'aara dubbadhu» jedheen.

¹¹ Achiin duuba, Mootiin Waan Maraa Saamu'eliin, «Kunoo, ani Israa'el keessatti waan dhage'iisaaf gurra namaatitti hin tolle hin godha.

¹² Guyyaa san ani jalqabaa kaasee haga dhumaatitti waan Eli'ii fi maatii isaa irratti dubbadhe mara hin muummessa.

¹³ Ilmaan isaa ana Waaqa akka faanshessite adoo beekuu, isaan waan hin xixiniif, yakkaa inni beeku saniif ani maatii isaa haga bara baraa akka adabu isatti himeeraayyu.

¹⁴ Tanaaf, ani «Yakkaan maatii Eli'ii ciinca'aan yookiin kennansaan haga bara baraa gumaan hin kennamu» jedhee maatii Eli'iitiif kakadheera» jedhe.

¹⁵ Saamu'el haga ganamaa rafe; achiin duuba ka'ee balbala Dunkaanii Woyyittii Mootii Waan Maraa bane; mudhii dhagge sanille Elii'itti himiisa sodaate.

¹⁶ Eliin ammoo Saamu'el waamee, «Ilma kiyya Saamu'el» jedhe.

Saamu'elille, «Kunoo, ani as jira» jedhe.

¹⁷ Eliin, «Mootiin Waan Maraa maan sitti dubbate? Ana hin dhossin! Waan inni sitti hime keessaa waan tokkolle yoo na dhossite, Waaqi waan hantuu sitti fiduu ti; waan hantuu irratti hantuu sitti dabaluu ti» jedhe.

¹⁸ Maarre Saamu'el waan tokkolle adoo hin dhossin waan mara isatti hime. Achiin duuba Eliin, «Inni Mootii Waan Maraa ti; waan fedhe godhuu ti» jedhe.

¹⁹ Saamu'el guddate; Mootiin Waan Maraa isa woliin waan jiruuf, wonni inni dubbate marti lafa hin buutu.

²⁰ Kolbaan Israa'elii ta Daan irraa haga Bersheeba'aa jirtu marti Saamu'el dhugumaan raagicha Mootii Waan Maraa akka te'e beekane.

²¹ Mootiin Waan Maraa ammalle Shiilo'otti mudhatee, achitti karaa jecha ifitiin Saamu'elitti mudhate.

4

Booji'amiisa Saanduqa Gondooro'oo

¹ Dubbiin Saamu'elii Israa'eloota mara dhaqqadde. Israa'elooti Filisxeemota loliisaaf bayanee addee, «Ebeen-Ezer» jedhantu qubatane; Filisxeemoti ammoo addee, «Afeq» jedhantu qubatane.

² Filisxeemoti Israa'eloota loliisaaf tarree galane; lolli akkuma jabaateen, Filisxeemoti Israa'eloota injifatane, lola san keessa Israa'elooti kum afur ijjeefamane.

³ Loltooti addee qubatanetti yennaa deebi'ane, jaarsoleen Israa'elii, «Mootiin Waan Maraa adha Filisxeemoti akka nu injifatanu maaf godhe? Akka inni nu waliin duulee harka diinota keennaa jalaa nu baasu, kowa'a dhandhee Saanduqa Gondooro'oo Ka Mootii Waan Maraa Shiiloo keessaa as fidanna!» jedhane.

⁴ Maarre kolbaan namoota gara Shiilo'oo ergitee, Saanduqa Gondooro'oo ka Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadee, ka barcumaa mootummaa'aa irra odduu dada ol-gubba'aa ta koola qaddu lamaanii tee'eeruu, achii akka fidanu goote; ilmaan Eli'ii lama Hofnii fi Fiinehaas Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa san waliin achi jiraniyyu.

⁵ Saanduqi Gondooro'oo ta Mootii Waan Maraa akkuma addee quttumaa dhufeen, Israa'elooti marti haga latti tachootutti guddoo ilillisane.

⁶ Filisxeemotille ililleettii san yennaa dhage'ane, «Ililleettiin guddoon ta addee quttuma Ibrootaati dhage'antu tun maan?» jedhane gaafatane. Isaan Saanduqi Gondooro'oo ka Mootii Waan Maraa gara addee quttumaa akka dhufeeru yennaa beekane,

⁷ Filisxeemoti sodaatane, «Waaqi dharaa tokko addee quttumaa dhufeera; tanaan qara wonni akkasii teetee waan hin beenneef, aanne'e nu'uuf!

⁸ Aanne'e nu'uuf! Harka waaqota dharaa jajjaba kana jalaa eentu nu baasuu dande'a ree? Isaan kun waaqota dharaa ka balaa adda addaatiin worra Gibxi'ii goomolee keessatti dhowane.

⁹ Ee Filisxeemota! Jabaadha'a! Dhiira te'a'a! Akkuma qara worri Ibrootaa isiniif garba te'e, isinille isaniif garba akka hin teene, dhiira te'a'aatii lola'a!» waliin jedhane.

¹⁰ Maarre Filisxeemoti lolane; Israa'elootille injifatamanee marti isaanii gara mana ifii baqatane; nami bacaan dhumate; Israa'eloota keessaa loltooti kum soddom ijjeefamane.

¹¹ Saanduqi Gondooro'oo ka Waaqaa booji'amee, ilmaan Eli'ii lamaanuu Hofnii fi Fiinehaas ijjeefamane.

Du'iisa Eli'ii

¹² Guyyaa san nami gosa Beniyaaminii tokko gaddiisaan woyaa ifii tarsiisee, bukuu mata'atti naqatee, addee lolaa irraa gara Sheelo'oo fiigaa dhufe.

¹³ Yennaa inni achi geye, Eliin marroo Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaatiif gadhaan isa raafamee karaa qarqara barcumaa irra tee'ee eegatiisatti jiraayyu; nami sun gara qacha'aa dhufee waan te'e kana yennaa hime worri qachaa keessa jiru marti iyyane.

¹⁴ Eliin iyya tana yennaa dhage'e, «Hogaan kun maan?» jedhee gaafate; achiin duuba nami sun ariiti'iin dhufee oduu tana Elii'itti hime.

¹⁵ Eliin jaarsa woggaa sagaltamii saddeetii waan te'eef ilti isaa jaamtee woy dhagguu hin dande'u.

¹⁶ Nami sun Eli'iin, «Ani nama lola irraa dhufe; ani adha lola keessaa miliqee dhufe» jedhe.

Eliin, «Ilma kiyya, maanti te'e ree?» jedhee gaafate.

¹⁷ Namichi oduu fidee dhufe sun deebisee, «Israa'elooti Filisxeemota duraa baqatane; loltooti hedduun dhumatanee, ilmaan teeti Hofnii fi Fiinehaasille lamaanuu du'aneeran; Saanduqi Gondooro'oo ka Waaqaalle booji'ameera» jedhe.

¹⁸ Nami sun marroo Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa yennaa hime, Eliin karra bira barcumaa irraa tee'eeru irraa gara duubaa jige; inni jaarsa dulloome furdaa waan te'eef mormi isaa cabee achumatti du'e; inni woggaa afurtama Israa'el irratti abbaa mura'aa te'eeraayyu.

¹⁹ Yennaa san niitiin ilma isaa ta Fiinehaasii ulfoottee deyiisa geetteertiyyu. Isiin oduu booji'amiisa Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa, abbaan sodda'aa ka isi'iitii fi abbaan manaa ka isi'ii akka du'ane yennaa dhageette ciniinsuun itti bira tartee jilbiiffattee deette.

²⁰ Isiin du'iisaaf yennaa worwaatatuu, dubartooti isii bira jiranu, «Ilma deetteerta, jabaadhu!» jedhane. Isiin ammoo deebii hin kennine yookiin waan isaan jedhane miidhassitee hin dhageenne.

²¹ Isiin Saanduqi Gondooro'oo ka Waaqaa waan booji'ameef, abbaan sodda'aa ka isi'iitii fi abbaan manaa ka isi'ii waan du'aneef, «Ulfinni Israa'el irraa ka'eera» jettee, maqaa ilma ifii Ikaaboodi baatte.

²² Isiin ammalle, «Saanduqi Gondooro'oo ka Waaqaa waan booji'ameef, ulfinni Israa'el irraa fudhatameera» jette.

5

Filisxeemoti Saanduqa Gondooro'oo Booji'ane

¹ Filisxeemoti Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa booji'aneen duuba Ebeen-Ezer irraa gara qachaa Ashidoodii geessane.

² Achiin duuba Filisxeemoti Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa san fuudhane gara galma waaqa dharaa ka, «Daagon» jedhamuu geessanee, Daagon bira keyane.

³ Kolbaan qachaa Ashidoodii boruuyyaa ganama yennaa kaate, waaqi dharaa Daagon Saanduqa Gondooro'oo ka Mootii Waan Maraa duratti lafatti gad gombifameeruun dhaggane; maarre isaan waaqa dharaa Daagon achiin fuudhane addee isaatitti deebisane dhaabane.

⁴ Boruuyyaa ganama ammoo yennaa ka'ane kunoo, waaqi dharaa Daagon Saanduqa Gondooro'oo Ka Mootii Waan Maraa duratti lafatti gad gombifameeruun dhaggane; mata'aa fi harki isaa lamaanuu irraa caccabee badhinna keessa bu'ee nafi isaa callaan hafeeraayyu.

⁵ Waan kanaaf, haga adhaa hayyooti Daagoniitii fi namooti galma Daagoonii seenanu marti gulantaa balbala galma waaqa dharaa ka Daagonii ka qachaa Ashidoodii keessaa irra hin ijjatanu.

⁶ Mootiin Waan Maraa kolbaa Ashidoodiitii fi kolbaa adaala isaanii jiranu mara guddoo rakkisee, balaa iitaa isaanitti buuse.

⁷ Worri Ashidoodii waan te'e kana yennaa dhaggane, «Waaqi nu'uu fi waaqa keenna Daagon waan adabeef, Saanduqi Gondooro'oo ka Waaqa Israa'elii as nu bira hin turin» jedhane.

⁸ Maarre isaan namoota erganee bulchitoota Filisxeemotaa mara wolitti qabane, «Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqa Israa'elii kana maan goona?» jedhane gaafatane. Bulchitootille, «Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqa Israa'elii gara qachaa Gaatii geessa'a» jedhane deebii kennane. Maarre isaanille Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqa Israa'elii gara qachaa Gaatii geessane.

⁹ Saanduqa Gondooro'oo san qachaa Gaatii geessaneen duuba, raafami guddaan te'e; Mootiin Waan Maraa namoota qachaa sanii adabee, diqqa'aa haga gudda'aatitti iita itti buuse.

¹⁰ Maarre isaan Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa san gara Eqroonii geessane; Saanduqi Gondooro'oo sun akkuma gara Eqroonii dhufeen ammoo kolbaan Eqroonii, «Isaan nu'uu fi kolbaa teenna ijjeesisiisaaf, Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqa Israa'elii gara keenna fidanee!» jedhane iyyane.

¹¹ Waaqi achitti waan isaan adabeef, raafam du'aa qachaa san duudii guute. Worri qachaa sanii namoota erganee bulchitoota Filisxeemotaa mara wolitti qabane, «Nuutii fi kolbaan teenna akka hin dhumanne, Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqa Israa'elii nu irraa fageessa'atii addee isaatitti deebisa'a» jedhane

¹² Worra du'a irraa hafe dhukkubi iitaa waan isaan rakkiseef, guddoo iyyane.

6

Saanduqi Gondooro'oo Gara Israa'elii Deebi'e

¹ Saanduqi Gondooro'oo ka Mootii Waan Maraa ji'a torba biyya Filisxeemotaa ture.

² Achiin duuba Filisxeemoti hayyoota ifitii fi worra moru waamane, «Saanduqa Gondooro'oo Ka Mootii Waan maraa maan goona? Addee isaatitti attam akka deebinnu mala nutti hima'a!» jedhane.

³ Isaanille, «Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqa Israa'elii yoo deebittane, kennansa sababa yakka'aatiif kennamu woliin deebisa'a malee duwwaa hin ergina'a. Achiin duuba isin hin fayyitan; innille maaf akka isin adabe hin beettan» jedhane.

⁴ Filisxeemotille, «Kennansi sababa yakka'aatiif isaaf erginu maan?» jedhane gaafatane.

Isaanille deebisane, «Balaan isinii fi bulchitoota teessan mara irratti bu'e gosa tokko waan te'eef, akka laakkossa goottolee teessaniititti, fakkii iitaa ta worqii irraa hujamane shanii fi fakkii hantuutaa ta worqii irraa hujamane shan erga'a.

⁵ Fakkii iitaa, fakkii hantuuta biyya teessan balleessiisatti jiruulle huja'atii, ulfinna Waaqa Israa'eliitiif kenna'a; inni adabbii san isin irraa, waaqa keessanii fi biyya teessan irraa hin kaasa fa te'a.

⁶ Isin akka worra Gibxootaatiif fi akka mootii Gibxi'ii maaf mataa jabaattan ree? Isaan Waaqi isaan adabeen duuba Israa'eloota gad lakkisane, isaanille deemanee motii ree?

⁷ «Tanaaf garreettaa haareyaa fi sa'oolee hoosifatanu lama ta waanjoon irra hin keyamin qopheessa'atii garreettaa san itti hidha'a; jabbii isaanii ammoo gara manaa deebisa'a.

⁸ Saanduqa Gondooro'oo Ka Mootii Waan Maraa san fuudha'atii garreettaa irra keya'a; fakkii worqi'ii ta sababa yakka'aatiif kennansa ergitanu san saanduqa keessa keya'atii Saanduqa Gondooro'oo bira keya'a; achiin duuba garreettaan sun akka ideemuuf gad lakkisa'atii

⁹ gara inni itti ideemu ilaala'a. Inni karaa biyya ifii gara qachaa Bet-Shemeshii yoo deeme, badii guddoo tana ka nutti fide Mootii Waan Maraa ti; karaa san yoo hin deemin ammoo badiin tun fedhuma nu irratti teete malee, ka nutti fide isaa moti» jedhane.

¹⁰ Isaanille akkuma isaanitti himame godhane; sa'oolee lama fuudhanee garreettaa itti hidhane; jabbii isaanii ammoo biraa deebisane mana itti cufane.

¹¹ Isaan Saanduqa Gondooro'oo Ka Mootii Waan Maraa, fakkii hantuu-taatii fi fakkii iitaa ta worqii irraa hujamane san garreettaa san irra keyane.

¹² Sa'oolleen sunille karaa irraa bita'aa fi midda adoo hin gorin madhataa gara Bet-Shemeshii deemane; bulchitooti Filisxeemotaalle haga meessaa Bet-Shemeshii isaan gula deemane.

¹³ Yennaa san worri Bet-Shemeshii dhooqa keessatti qamadii haammatisatti jiraniyyu; isaan yennaa ol jedhane ilaalane, Saanduqa Gondooro'oo Ka Mootii Waan Maraa dhagganee guddoo gammadane.

¹⁴ Garreettaan sun gara fichaa Iyaasu'uu ka nama Bet-Shemeshi keessa le'uu dhufee, dhakaa guddaa tokko bira dhaabbate; kolbaan muka garreettaa sanii falaxxee, sa'oollee qaltee kennansa gubamu Mootii Waan Maraatiif dhikeessite.

¹⁵ Worri Lewwootaa Saanduqa Gondooro'oo Ka Mootii Waan Maraatiif fi saanduqa meya worqi'ii qabu ka isii bira jiru san dhakaa guddaa sanirra keyane; guyyaa san worri Bet-Shemeshii kennansa gubamu dhikeessanee ciincaalle Mootii Waan Maraatiif ciincessane.

¹⁶ Bulchitooti Filisxeemotaa shan waan kana yennaa dhaggane guyyuma san gara Egroonii deebi'ane.

¹⁷ Filisxeemoti fakkii iitaa shan ta worqii irraa hujamane, maqaa qachaa ifitiin, takkaa marroo Ashidoodiitiif, takkaa marroo Gaaza'aatiif, takkaa marroo Ashiqaloniitiif, takkaa marroo Gaatiitiif, takkaa marroo Egrooniitiif kennansa sababa yakka'aatiif dhikaatu Mootii Waan Maraatiif ergane.

¹⁸ Laakkossa fakkii hantuutaa ta worqii irraa hujamanelle marroo laakkossa qachoota dalleya dhaka'aa ka bulchitooti Filisxeemotaa shan bulchanu maraatiif fi ollaa adaala san jiranuutiif ergane. Dhakaan guddaan ka Saanduqa Gondooro'oo Ka Mootii Waan Maraa irra keyane, ka fichaa Iyaasuu nama Bet-Shemeshi keessa le'uu bira jiru sun haga adhaa dhugaa bayaa te'ee achi jira.

¹⁹ Worri Bet-shemeshii Saanduqa Gondooro'oo Ka Mootii Waan Maraa keessa waan ilaalaneef, inni namoota Bet-shemeshii keessaa nama torbaatama ijjeese; Mootiin Waan Maraa akka malee kolbaa waan fixeef, kolbaan bootte.

²⁰ Achiin duuba kolbaan Bet-Shemeshii, «Mootii Waan Maraa, Waaqa Woyyicha kana dura eentu dhaabbatuu dande'a ree? Saanduqi Gondooro'oo kun asii ka'ee gara eennuu dhaqa ree?» jedhane.

²¹ Maarre isaan gara worra Kiriiyat-Ya'ariimii namoota erganee, «Filisxeemoti Saanduqa Gondooro'oo Ka Mootii Waan Maraa gara keenaa deebisa-neeran. Kowa'aa fudhadha'a» jedhane.

7

¹ Namooti qachaa Kiriiyat-Ya'ariimii dhufanee Saanduqa Gondooro'oo Ka Mootii Waan Maraa san fudhatanee, gara mana Abinaadaabii ka kooba irra jiruu geessane. Saanduqa Gondooro'oo Ka Mootii Waan Maraa san akka eeguuf ilma isaa Ele'azaar woyyoonsane.

Saamu'el Israa'el Irratti Abbaa Mura'aa te'e

² Saanduqi Gondooro'oo ka Mootii Waan Maraa Kiriiyat-Ya'ariim keessa yennaa dheertuu, gara woggaa diddamaa ture. Kolbaan Israa'elii marti yennaa tana gara Mootii Waan Maraa iyyite.

³ Saamu'el kolbaa Israa'eliitiin, «Isin gadhaa keessan tokkochaan gara Mootii Waan Maraa yoo deebitane, waaqota ormaa fi waaqa dharaa Ashitaaroti odduu teessanii balleessa'a; gadhaa keessan tokkochaan gara

Mootii waan Maraa deebi'a'aatii isa qofa tajaajila'a; innille harka Filisxeemotaa jalaa isin hin baasa» jedhe.

⁴ Maarre Israa'elooti waaqota dharaa Ba'aalii fi Ashitaaroti balleessanee Mootii Waan Maraa qofa tajaajilane.

⁵ Achiin duuba Saamu'el, «Israa'eloota mara Miispha'atti wolitti qaba'a; ani achitti marroo teessaniif gara Mootii Waan Maraa hin daadimadha» jedhe.

⁶ Maarre isaan Miispha'atti wolitti qabamanee, bisaan woraabanee Mootii Waan Maraa duratti dhangalaasane; guyyuma san laamanee, «Nuuti Mootii Waan Maraa yakkeerra» jedhanee cubbuu ifii faaci'atane. Saamu'elille Miispha'atti Israa'elootatti mure.

⁷ Worri Filisxeemotaa akka Israa'elooti Miispha'atti wolitti qabamane yennaa dhage'ane, mootoleen Filisxeemotaa isaan loliisaaf dhaqane; Israa'elootille tana dhage'anee worra Filisxeemotaa sodaatanee,

⁸ Saamu'eliin, «Mootiin Waan Maraa Waaqi keenaa harka worra Filisxeemotaa jalaa akka nu baasuuf, marroo teennaaf gara isaa daadimatiisa hin lakkisin» jedhane.

⁹ Maarre Saamu'el buruusoo korbeessa hoole'ee ka hin gu'in fuudhee kennansa duuduma gubamu godhee Mootii Waan Maraatiif dhikeesse. Saamu'el marroo Israa'elootaatiif gara Mootii Waan Maraa daadimatee, Mootiin Waan Maraalle deebii isaaf kenne.

¹⁰ Saamu'el kennansa gubamu dhikeessiisatti adoo jiruu, worri Filisxeemotaa Israa'eloota loliisaaf dhufanee itti dhikaatane; te'uu malee guyyaa san Mootiin Waan Maraa ol-gubbaa irraa worra Filisxeemotaa irratti mandi'ee isaan joonjessee, isaanille raafamanee Israa'eloota duraa baqatane.

¹¹ Israa'elootille Miispha'aa bayanee worra Filisxeemotaa ijjeesaa haga addee Bet-kaar jalaatitti isaan ari'ane.

¹² Achiin duuba Saamu'el dhakaa tokko fuudhee Miispha'aa fi Sheen wodhakka'atti dhaabee, «Mootiin Waan Maraa haga ammaa nu qarqaareera» jedhee, maqaa isaa, «Ebeen-Ezer» jedhee moggaase. «Ebeen-Ezer» jechuun, «Dhakaa qarqaarsaa» jechu'u.

¹³ Maarre worri Filisxeemotaa waan injifatamanee, bara Saamu'el jiru mara worri Filisxeemotaa deebi'anee lafa Israa'elii akka hin lolle, Mootiin Waan Maraa worra Filisxeemotaa dhoogge.

¹⁴ Qachooti worri Filisxeemotaa Israa'eloota irraa fudhatane, Eqroonii haga Gaatiititti gara Israa'elii deebi'ane; Israa'el lafa ifii mara harka worra Filisxeemotaa jalaa baafatte; Israa'elootaa fi Amoorota wodhakkaalle'etti nageenni bu'e.

¹⁵ Saamu'el bara jiruu ifii mara Israa'elitti mure.

¹⁶ Inni wogguma wogga'atti Bet'el, Giilgalii fi Miisphaa keessa deddeemee, namoota addee tanaa maraaf mura'a kenne.

¹⁷ Achiin duuba inni gara mana ifii ka Raamaa keessa jiruu deebi'ee, achille'etti Israa'elootaaf mura'a kenne. Addee ciinca'aalle Mootii Waan Maraatiif achitti ijaare.

8

Kolbaan Israa'elii Mootii Filatiisaaf Gaafatte

¹ Saamu'el yennaa dulloome ilmaan ifii Israa'el irratti abbootii mura'aa godhe.

² Maqaan ilma isaa angafichaa, Yo'el; ka maandhichaa, Abiyya'a. Isaan abbootii mura'aa ta qachaa Bersheeba'aa ti.

³ Garuu isaan fakkeenna abbaa ifii gula hin deenne; bu'aa woy hin baane dhaggatiisaaf karaa isaa irraa gorane; beesee safu'uu fudhatanee, haqa dassane.

⁴ Achiin duuba jaarsoleen Israa'elii marti wolitti qabamanee, Raamat keessatti gara Saamu'elii dhagane,

⁵ Saamu'eliin, «Kunoo, ati dulloonteerta; ilmaan teetille fakkeenna keeti gula hin ideenne; tanaaf akkuma gosa biyya adda addaa mootii nu bulchu nuu kenni» jedhane.

⁶ Garuu jechi isaan, «Mootii nu bulchu nuu kenni» jedhane sun Saamu'el hin gammachiinne; tanaaf inni gara Mootii Waan Maraa daadimatee,

⁷ Mootiin Waan Maraalle Saamu'eliin, «Isaan akka ani mootii isaanii hin teeneef na tuffatane malee si waan hin te'iniif, waan isaan si'iin jedhanu mara dhage'i!

⁸ Isaan guyyaa ani biyya Gibxi'iitii isaan baaseen jalqabane haga adhaa na lakkisane waaqota dhibii tajaajiliisaan waan na irratti godhane si irralle'etti godhiisatti jiran.

⁹ Maarre amma, ati waan isaan si'iin jedhanu dhage'i; mootiin isaan irratti mootomu maan isaan akka godhu itti himiitii, midhassii isaan ifi eeggachiisi» jedhe.

¹⁰ Maarre Saamu'el dubbii Mootiin Waan Maraa isatti dubbate mara kolbaa akka inni mootii isaaniif filu isa gaafattetti hime.

¹¹ Inni isaaniin, «Mootiin isin irratti mootomu, ilmaan teessan fuudhee, isaan keessaa garii loltoota garreettaa ifii ka fardaan harkifamuu, garii abbootii fardaa ta ifii hin godhata; gariin garreettaa isaa ka fardaan harkifamuun dura hin fiigan.

¹² Isaan keessaa garii ajajjoota loltoota kumaatii fi ajajjoota loltoota shantamaa, garii fichaa isaa akka qotanuu fi midhaan isaa akka haamanu, garii meya lolaatii fi meya garreettaa fardaan harkifamuu akka isaaf hujanu hin godhata.

¹³ Ijoollee teessan ta durraa fudhatee, worra figiree hujuu, worra ittoo hujuu fi worra daabboo bilcheessu hin godhata.

¹⁴ Inni fichaa keessan dansaa, fichaa muka woyni'iitii fi muka ejersaa keessan fudhatee tajaajiltoota ifitiif hin kenna.

¹⁵ Midhaanii fi woynii teessan irraa harka kudhan keessaa harka tokko fuudhee gondaaltotaa fi tajaajiltoota ifitiif hin kenna.

¹⁶ Inni tajaajiltoota teessan ta dhiiraatii fi ta durraa, loonii* fi harreelee teessan dadansaa fudhatee hujii ifii hin hujisiifata.

¹⁷ Inni hoole'ee fi re'ee teessan kudhan keessaa tokko hin fudhata; isinu-uyyuu garboolee isaa hin teetan.

¹⁸ Guyyaa san isin sababa mootii ifiif filattaneetiif akka malee hin gunguntan; Mootiin Waan Maraa ammoo guyyaa san gungunsuu teessan san hin caqasu» jedhe.

¹⁹ Kolbaan ammoo dubbii Saamu'elii caqasuu diddee, «Waawwo'o! Nuuti akka mootiin nu'uuf filamu barbaanna;

²⁰ nuutille akkuma gosi biyya adda addaa teete hin teena; mootiin keenna muraa nuu kennuu ti; nu'uun dura deemaa diina keenna nu'uuf loluu ti» jedhane.

²¹ Saamu'el waan kolbaan jette mara yennaa dhage'e, waanuma isaan jedhane Mootii Waan Maraattitti hime.

* **8:16** Loonii fi harreelee: Afaan Ibrootaatiin *Dargaggoota teessan dadansaa* jedha.

²² Mootiin Waan Maraa Saamu'eliin, «Waan isaan jedhane isaaniif godhi! Mootii isaaniif fili!» jedhe. Achiin duuba Saamu'el kolbaa Israa'eliitiin, «Isin martinuu gara qachaa keessaniititti deebi'a'a!» jedhe.

9

Saa'ol Mootii Te'iisaaf Filame

¹ Gosa Beniyaaminii keessaa nami beekkamaan ka maqaan isaa, «Qiish» jedhamu tokko jiraayyu; inni ilma Abii'elii, akaakoo Xiroorii, abuuboo Bikoraatii, abutturoo Afiya'aa ti.

² Qiish ilma miidhagaa, ka maqaan isaa «Saa'ol» jedhamu tokko qabaayyu; Israa'el keessa nami isa caalaa miidhagu hin jiru. Inni gurmuu ifitii ol kolbaa mara caalaa dheerata.

³ Abbaa Saa'olii Qiish duraa harreeleen baddeertuun, inni ilma ifii Saa'oliin, «Tajaajiltoota keessaa tokko fudhadhuutii, dhaqii harreelee badde san barbaadi» jedhe.

⁴ Saa'olii fi tajaajilaan sun ka'anee lafa koobittii Efreemiitii fi lafa Shaali-ishaa keessa deddeebi'anee barbaadane; garuu hin dhaggine; karaa lafa Sha'aliimii keessa dabaranee barbaadane; garuu hin dhaggine. Achiin duuba karaa lafa Beniyaaminii keessa dabaranee barbaadane; garuu achille'etti hin dhaggine.

⁵ Isaan lafa Zuufii yennaa geyane, Saa'ol tajaajilaa isa woliin jiruun, «Abbaan kiyya marroo harreele'ee yaaduu lakkisee, marroo teennaaf waan yaaddowuuf, koy deebinaa!» jedhe.

⁶ Tajaajilaan sun deebisee, «Kunoo, nami Waaqaa tokko qachaa kana keessa jira; wonni inni dubbate marti waan teetuuf, inni nama ulfinna qabu; inni karaa nuuti harreelee tana barbaannu nu'uuf hin hima fa te'a, koy gara isaa dhandhaa!» jedheen.

⁷ Achiin duuba Saa'ol tajaajilaa ifitiin, «Gara isaa yoo dhandhe, namichaaf maan kennina ree? Qalqalluu keessa sagaleen hin jirtu; waan nama Waaqaatiif kenninu tokkolle hin qannu; waan dhibii maan qanna ree?» jedhe.

⁸ Tajaajilaan sun deebisee Saa'oliin, «Kunoo, ani meetii gara giraama sadii qaba; akka inni karaa nuuti harreelee tana barbaannu nu'uuf himu, ani meetii tana nama Waaqaatiif hin kenna» jedhe.

⁹ Bara durii Israa'el keessatti nami tokko woy Waaqa gaafatiisaaf yoo dhaqu, «Kowa'a gara nama mudhii dhagguu dhandha» jedhaayyu; ka adha, «Raagicha» jedhamu, dur «Abbaa mudhi'ii» jedhamaayyu.

¹⁰ Saa'olille tajaajilaa ifitiin, «Dansaa jette; koy, hin dhandhaa» jedhe; maarre isaan gara qachaa nami Waaqaa keessa jiru sanii dhaqane.

¹¹ Isaan gara qacha'aa koobatti adoo ol bayiisatti jiranuu, ijoollee durraa ta bisaan woraabbatiisa dhaxxu takka dhagganee, «Nami mudhii dhaggu as jiraa?» jedhanee isaan gaafatane.

¹² Isaan deebisane, «Ee, hin jira; kunoo, inni isinumaan dura jira, ari-ifadha'aa dhaqqaba'a. Kolbaan addee waaqonfanna'aa irratti ciincaa waan dhikeessituuf, inni amma as gara qachaa kanaa dhufe.

¹³ Isin yennuma qachaa seentane, inni nyaatiisaaf gara addee Waaqonfanna'aa ol adoo hin bayin isa hin dhaggitan. Ciincaa dhikaate inni waan eebisuuf, adoo inni hin dhufin kolbaan hin nyaattu; achiin duuba worri affeerame hin nyaata. Yennuma tana waan isa dhaggitanuuf, ol baya'a» jedhanee deebisane.

¹⁴ Maarre Saa'olii fi tajaajilaan isaa gara qacha'aa ol bayane. Isaan gara qacha'aa adoo seeniisatti jiranuu, Saamu'el gara addee waaqonfanna'aa ol bayiisaaf karaa isaan jiranu dhufe.

¹⁵ Saa'ol adoo hin dhufin guyyaa tokkoon dura Mootiin Waan Maraa, waan kana Saamu'elitti mudhisee,

¹⁶ «Boru yennaa tana biyya Beniyaaminiitii nama tokko gara keeti hin erga; kolbaa tiyya Israa'el irratti akka inni bulchaa te'u isa muudi; inni kolbaa tiyya harka worra Filisxeemotaa jalaa hin baasa; iyyi isaanii gara kiyya waan dhaqqaddeef, kunoo, ani kolbaa tiyya ilaaleera» jedhe.

¹⁷ Saamu'el yennaa Saa'ol dhagge, Mootiin Waan Maraa isaan, «Nami ani waan isaa sitti hime sun kunoo isa kana; inni kolbaa tiyya hin bulcha» jedhe.

¹⁸ Achiin duuba Saa'ol karaa seensuma karraatiin gara Saamu'elii dhikaa-tee, «Manni nama mudhii dhagguu eessa? Maganne'e natti himi» jedhee gaafate.

¹⁹ Saamu'el deebisee, Saa'oliin, «Nami mudhii dhagguu ana; isin adha na woliin waan nyaattanuuf, gara addee waaqonfanna'aa naan dura ol baya'a; waan gadhaa keeti keessa jiru mara sitti himee, ganama si geegessa.

²⁰ Harreeleen teeti ta guyyaa sadiin dura badde waan mudhatteertuuf hin yaadin; halchaan kolbaa Israa'elii marti eennuuf ree? Si'ii fi maatii abbaa keetii maraafii motii ree?» jedheen.

²¹ Saa'ol deebisee, «Ani gosa Israa'elii keessaa gosa diqqoo sanyii Beniyaaminiitii motii ree? Sanyiin tiyya sanyii Beniyaaminii mara keessaa diqqo'oo motii ree? Ati maaf waan akkasii natti dubbatta ree?» jedhe.

²² Achiin duuba Saamu'el, Saa'olii fi dargaggeessa tajaajilaa isaa san gara kolloo jilaa geessee, keessumoota soddoma waamamane caalaa addee ulfinnaa isaan teessise.

²³ Saamu'el tajaajilaa ittoo qopheessu waamee, «Foon ani si'iin, «Adda baasii keyi» jedhee sitti kenne san fidi» jedheen.

²⁴ Maarre tajaajilaan ittoo qopheessu sun foon lukaa akkuma jiruun fidee Saa'ol dura keye; Saamu'el, «Kunoo, ani haga keessumoota waameen jalqabee gooda si'iif maffameeru waan te'eef nyaadhu» jedheen. Maarre Saa'ol guyyaa san Saamu'el woliin nyaate.

²⁵ Addee waaqonfanna'aatii gara qacha'aa gad yennaa bu'ane, Saamu'el heellichoo manaa irratti Saa'ol woliin dubbate.

²⁶ Achiin duuba Saamu'el ganama ka'ee, heellichoo manaa gubba'aa Saa'ol waamee, «Waan si geegessuuf ka'!» jedheen. Saa'olille ka'ee Saamu'el woliin kara'atti gad bayane.

²⁷ Isaan gara qacha'aa gad bu'iisatti adoo jiranuu, Saamu'el Saa'oliin, «Tajaajilaan kun nu'uun dura dabaree akka deemu itti himi; yennaa inni dabaree deeme, ani waan Waaqi jedhe waan sitti himuuf, ati diqqoo asuma turi» jedhe.

10

Saa'ol Mootii Te'iisaaf Muudame

¹ Achiin duuba Saamu'el buttullee zayitii ejersaa fuudhee, zayitii mataa Saa'olii irratti dhangalaasee, isa sungatee, «Mootiin Waan Maraa kolbaa isaa Israa'el akka bulchitu si muudee motii ree?

² Ati adha yennaa na biraa kaatee deentu, lafa Beniyaaminii Zelzaa keessatti addee awwaala Raahelii biratti namoota lama hin dhaggita; isaan, «Harreeleen ati barbaaddu mudhatteerti; abbaan keetille marroo harreele'eetiif yaaduu lakkisee, marroo teetiif: Marroo ilma kiyyaa maan godhu laati? jedhee si'iif yaaddowiisatti jira» jedhanee sitti hin himan.

³ Achiin duuba ati isaan biraa kaatee haga qilxaa Taaborii bira yennaa geettu, achitti namooti sad, isaan keessaa tokkochi ilmoolee re'e'ee sad ba'atee, tokkochi dhibiin daabboo xaltaa sad ba'atee, kuunille qalqalluu daadhii woyni'ii ba'atee gara Waaqa Bet'el jiruu dhaqanuun wol hin dhaggitan.

⁴ Isaan nageya si fuudhanee, daabboo xaltaa lama si'iif hin kennan; atille harka isaanii irraa fudhatuu qadda.

⁵ Achiin duuba addee loltooti Filisxeemotaa jiranu gara kooba Waaqaa Giibe'aa hin dhaxxa; gara qacha'aa akkuma seenteen, gumiin raagotaa maseenqoo dhowaa, dibbee dhowaa, suusullee afuufaa, kiraara guddicha dhowaa, raaga dubbataa addee waaqonfanna'aa irraa gad bu'anuun hin dhaggita.

⁶ Achiin duuba Ayyaanni Mootii Waan Maraa si irratti hin bu'a; atille isaan woliin raaga hin dubbata; jijjiirantee nama dhibii hin teeta.

⁷ Beessisi kun yennaa muummowe, Waaqi si woliin waan jiruuf waan dandeette mara huji.

⁸ Ati naan dura gara Giilgalii gad bu'i! Kunoo, ani kennansa gubamuu fi kennansa tokkumma'aa dhikeessiisaaf gara keeti hin dhufa. Ati ammoo haga ani si bira dhufee, waan ati gootu sitti himutti guyyaa torba hin turta» jedhe.

Saa'ol Mootii Te'e

⁹ Saa'ol yennaa Saamu'el biraa deemiisaaf ka'e, Waaqi qalbii Saa'olii jijjiire; beessisi marti guyyuma san muummowe.

¹⁰ Saa'ol tajaajilaa ifii woliin Giibe'aa yennaa geye, kunoo, gumiin raagotaa isa dhaggitee, Ayyaanni Waaqaa isa irratti bu'e; innille isaan woliin raaga dubbate.

¹¹ Worri gara isa beeku marti yennaa inni raagota woliin raaga dubbatuun isa dhaggane, «Ilma Qiishiititti maanti dhufe? Saa'olille raaga'aa?» jedhanee wol gagaafatane.

¹² Nami achi le'u tokko, deebisee, «Abbaan isaanii eennu?» jedhe; maarre, «Saa'olille raaga'aa?» jechuun mammaassa teete.

¹³ Saa'ol raaga dubbatee fixateen duuba gara addee waaqonfanna'aa dhage.

¹⁴ Obboleessi abbaa Saa'olii, «Eessa dhaxxane?» jedhee isaa fi tajaajilaa isaa gaafate; Saa'olille, «Harreelee barbaadiisa deenne; harreeleen dhabannaan gara Saamu'elii dhandhe» jedheen.

¹⁵ Obboleessi abbaa Saa'olille, «Magganne'e waan Saamu'el si'iin jedhe natti himi» jedheen.

¹⁶ Saa'olille obboleessa abbaa ifitiin, «Harreeleen akka mudhatteertu nutti himeera» jedheen; te'uu malee marroo mootii te'iisa ifii ta Saamu'el isatti dubbate, isatti hin hinne.

Saa'ol Mootii Akka Te'e Beekkame

¹⁷ Saamu'el kolbaa Israa'elii gara Miispha'aa Mootii Waan Maraa duratti wolitti waamee,

¹⁸ kolbaa Israa'eliitiin, «Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, «Ani isin Israa'eloota biyya Gibxi'ii keessaa baasee, harka Gibxootaati fi harka mootummoota isin cunqursanu mara jalaa isin baase» jedha.

¹⁹ Isin ammoo adha Waaqa keessan ka rakkinnaa fi farra jalaa isin baase tuffattanee, «Mootii nu'uuf moosisi» jettane. Maarre amma gosuma gosa gosa keessaniitii fi fira fira keessaniitiin Mootii Waan Maraa dura dhikaadha'a» jedheen.

²⁰ Achiin duuba Saamu'el gosa Israa'elii mara dhikeessee, gosi Beniyaaminii hixa'aan filamane.

²¹ Inni gosa Beniyaaminii maatii maatii isaaniitiin dhikeesse, maatiin Maxirii hixa'aan filamane; dhuma irratti ilmi Qiishii Saa'ol hixa'aan filame; garuu isaan yennaa isa barbaadane inni hin dhagganne.

²² Maarre isaan, «Saa'ol dhufeeraa?» jedhane Mootii Waan Maraa gaafatane; Mootiin Waan Maraa deebisee, «Kunoo, Saa'ol meya odduu dhokateera» jedhe.

²³ Maarre isaan figanee dhaqanee, addee inni dhokateeruu isa fidane; inni dhufee kolbaa odduu yennaa dhaabbate gurmoo ifitii ol kolbaa mara caalaa dheerata.

²⁴ Saamu'el kolbaa maraan, «Nama Mootiin Waan maraa filate kana dhaggitanee? Kolbaa mara keessaa ka akka isaa tokkolle hin jiru» jedhe.

Achiin duuba kolbaan marti qoonqoo ifii ol qabattee, «Mootichi bara dheeraa le'uu ti» jette.

²⁵ Achiin duuba Saamu'el mirgaa fi hujii mootichaa kolba'atti beessiseen duuba, kitaaba irratti barreessee Mootii Waan Maraa dura keye; achiin duuba Saamu'el nami marti gara mana ifii akka galu geegesse.

²⁶ Saa'olille gara mana ifii ka Giibe'aa jiruu deemee, loltooti jajjaba ta Waaqi qalbii isaanii tugelle isa woliin deemane.

²⁷ Worri gariin ka woy hin baane ammoo, «Nami kun attam nu baasuu dande'a» jedhane. Isaan isa tuffatane, kennansa isaaf hin finne. Saa'ol ammoo cadhiseetuma isaan lakkise.

11

Saa'ol Amoonota Injifate

¹ Achiin duuba mootiin Amoonotaa Nahaashi qachaa Yaabesh-Giil'aadiititti duulee marse; namooti Yaabeshii marti Nahaashiin, «Nuuti si hin tajaajilla, ati nu woliin wolii galtee godhadhu» jedhane.

² Nahaashi ammoo deebisee, «Ani tokko tokkoo keessan ila teessan ta gara middaa hoqonqolee isin keessaa baasiisaan isiniin wolii gala; akka kanaan Israa'eloota mara irratti salphinna fida» jedhe

³ Jaarsoleen Yaabeshii isaan, «Gara lafa Israa'elii maratti nama akka ergannuuf guyyaa torba nu'uuf kenni; achiin duuba nami nu baasu yoo hin jirre te'e harka sitti hin kennanna» jedhane.

⁴ Worri ergame gara qachaa Giibe'aa addee Saa'ol jiru dhufee, oduu tana kolba'atti yennaa hime, kolbaan marti qoonqoo ol qabattee bootte.

⁵ Yennaa tana, Saa'ol qotiyyoota ifii oofataa ficha'aa dhufiisatti jiraayyu; inni, «Kolbaan tun maan teetee bootti» jedhee gaafate. Isaanille waan worri Yaabeshii jedhe isatti himane.

⁶ Saa'ol dubbii tana yennaa dhage'e Ayyaanni Waaqaa isa irratti bu'ee, inni guddoo aaree bobe'e.

⁷ Qotiyyoota ximmaadii tokko fuudhee qalee kukkutee foon san lafa Israa'elii maratti ergantootaan ergee, «Worra Saa'olii fi Saamu'el gula hin baane, qotiyyooti isaanii akkana hin kukkutanti» jedhe. Kolbaan marti Mootii Waan Maraa sodaattee nami tokkolle adoo hin hafin tokkumma'aan baate.

⁸ Saa'ol addee, «Bazeqi» jedhantutti yennaa isaan wolitti qabe, laakkossi isaanii, Israa'elooti nama kuma dhibba sad, Yihudooti nama kuma soddoma te'ane.

⁹ Isaan namoota ergamanee dhufane saniin, «Dhaqa'aatii, worra Yaabesh-Giil'aadiitiin, «Boru yennaa aduun o'itu bilisa hin baatan» jedha'aan» jedhane. Worri ergame sunille dhaqanee, worra Yaabeshiititti tana yennaa himane isaan gammadane.

¹⁰ Tanaaf, worri Yaabeshii, worra Amoonotaatiin, «Nuuti boru harka keenna isinitti hin kennanna; isinille waanuma feetane nu godha'a» jedhane.

¹¹ Boruuyyaa Saa'ol namoota addee saditti goode; yennaa latti bariite addee guttuma Amoonotaa cassanee seenanee, haga aduun o'itu isaan ijjeesane; worri lubbu'uun hafanelle karaa karaa waan bittinnowaneeff, isaan keessaa nami lamalle wol biratti hafuu hin dandeenne.

¹² Achiin duuba kolbaan Saamu'eliin, «Worri, «Saa'ol nu bulchaa?» jedhe eennu fa'a? Namoota san akka ijjeennuuf gara keenna fidi» jedhane.

¹³ Saa'ol ammoo, «Guyyaan adhaa guyyaa Mootiin Waan Maraa Israa'eloota bilisa baase waan te'eef, adha nami tokkolle hin ijjeefamu» jedhe.

¹⁴ Achiin duuba Saamu'el kolba'aan, «Kowa'a, nu martinuu Giilgal dhandhee Saa'ol mootii keenna akka te'e itti deebinee mirkaneessina» jedhe.

¹⁵ Maarre kolbaan marti Giilgal dhaqanee Saa'ol mootii akka te'e Mootii Waan Maraa duratti mirkaneessane; isaan achitti kennansa tokkumma'aa Mootii Waan Maraa duratti dhikeessane; Saa'olii fi Israa'elooti marti gammadaan firinxixane.

12

Saamu'el Nageya Dhaame

¹ Saamu'el Israa'eloota maraan, «Kunoo, ani waan isin jettane mara isiniif dhage'ee mootii isiniif mootonseera;

² kunoo, nama mootii te'ee isin soressu dhaggattaneertan; ani dulloomee arrii baaseera; kunoo, ijoolleen tiyyalle isin waliin jirti. Ani bara dargagummaa tiyyaatiin jalqabee haga adhaa isin sooresseera.

³ Kunoo, isin dura dhaabbadheera; Mootii Waan Maraatii fi mootii inni muude duratti dhugaa na irratti baya'a. Ani qotiyyoo eennuu fudhadheera? Harree eennuu fudhadheera? Eennu sobeera? Eennu cunqurseera? Dhaggee akka hin dhagginee isi'iin te'iisaaf, eennu irraa beese safu'uu fudhadheera? Na irratti dhugaa baya'aatii, anille adde'etti isiniif hin deebisa» jedhe.

⁴ Isaanille, «Ati nu hin sonne yookiin nu hin cunqursine yookiin nama tokko irralle'ee waan tokkolle hin fudhanne» jedhane deebisane.

⁵ Saamu'el isaaniin, «Harka kiyya keessatti waan tokkolle akka isin hin dhaggin, Mootiin Waan Maraatii fi mootiin inni muude adha isin irratti dhugaa hin bayan» jedhe. Isaanille, «Ee, Mootiin Waan Maraa dhugaa-baya'a» jedhane.

⁶ Achiin duuba Saamu'el kolba'aan, «Mootiin Waan Maraa ka Muuse'ee fi Aaron muudee, abbootii teessan ta duriille biyya Gibxi'ii keessaa baase.

⁷ Tanaaf ani hujii balchumma'aa ta Mootiin Waan Maraa isinii fi abbootii teessaniifille huje maraaf, Mootii Waan Maraa duratti waan isin ifi eeggachiisuuf, isin as dhaabbadha'a!

⁸ Yaaqoob maatii ifii waliin biyya Gibxi'iititti yennaa gale, worri Gibxi'ii isaan cunqursee, isaan Mootiin Waan Maraa akka isaan qarqaaruuf gara isaa iyyane; Mootiin Waan Maraalle Muuse'ee fi Aaron worra abbootii teessan ta durii biyya Gibxi'iitii baasanee addee tana akka qubatanu godhane isaaniif erge.

⁹ Isaan ammoo Mootii Waan Maraa Waaqa ifii dedhane; tanaaf, inni harka ajajaa loltoota Hazoorii Siisera'aatitti, harka Filisxeemotaatii fi harka mootii Mo'aabiititti dabarsee isaan kenne; isaanille abbootii teessan ta durii injifatane.

¹⁰ Abbootiin teessan ta duriille, «Nuuti cubbuu hunyeera; Mootii Waan Maraa lakkinnee, waaqota dharaa Ba'aalii fi Ashitaaroti tajaajilleerra; akka nuuti si tajaajilluuf, amma ammoo harka diinota keennaa jalaa nu baasi» jedhane gara Mootii Waan Maraa iyyane.

¹¹ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Yiruub-Ba'aal, Bedaan, Yifta'aa fi ana Saamu'el isiniif ergee, harka diinota adaala keessan jiranuu jalaa isin baase; isinille nageyaan leetane.

¹² Mootiin Amoonii Nahaashi isin loliisaaf akka dhufiisatti jiru yenna dhaggitane, Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan mootii keessan adoo te'eeruu, isin anaan, «Wawwo'o, mootii nu bulchu barbaanna» jettane.

¹³ «Mootii isin filattane, ka isin gaafattane kunoo ti! Mootiin Waan Maraa isiniif mootonseera.

¹⁴ Isin Mootii Waan Maraa sodaattanee, isa tajaajiltanee, isaaf ajajantanee, ajaja isaa irratti yoo ka'uu dhaddane, isinii fi mootiin keessan ka isin bulchu, Mootii Waan Maraa Waaqa keessan yoo hordottane, wonni dansaan isiniif hin teeti.

¹⁵ Ammoo Mootii Waan Maraatiif ajajamiisa dhaddanee, ajajaa isaa irralle'etti yoo kaatane, inni akkuma abbootii teessan ta durii adabe isinille hin adaba.

¹⁶ Tanaaf, jabaadha'aa dhaabbadha'aatii, waan guddoo Mootiin Waan Maraa ila teessan duratti godhu ilaala'a.

¹⁷ Amma yennaan ta qamadii haammattanuu motii? Mootiin Waan maraa mandiiisu'uu fi bokkeya akka fidu ani gara isaa hin daadimadha; isin mootiin akka isiniif mootomu gaafatiisaan, Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu akka hujane, yenna san hin hubattan» jedhe.

¹⁸ Maarre Saamu'el gara Mootii Waan Maraa daadimate; guyyuma san Mootiin Waan Maraa mandiiisu'uu fi bokkeya fide; kolbaan marti Mootii Waan maraati fi Saamu'el guddoo sodaatane.

¹⁹ Kolbaan marti Saamu'eliin, «Cubbuu teenna mara irratti, mootiin akka nu'uuf mootomu gaafatiisaan cubbuu teenna mara irratti hammeenna kana waan hunyeef, akka hin duuneef nu tajaajiltoota teetiif gara Mootii Waan Maraa Waaqa keetii daadimadhu!» jedhane.

²⁰ Saamu'elille deebisee kolba'aan, «Hin sodaatina'a! Isin hujii hantuu tana mara hujjaneertan. Te'ulle Mootii Waan Maraa Waaqa keessan gadhaa tokkochaan waaqonfadha'a malee, isa irraa gara dhibii hin deebi'ina'a.

²¹ Isaan waan woy hin baane waan te'aneef, waan duwwaa bu'aa hin qanne yookiin ka isin baasuu hin dandeenne hin waaqonfatina'a.

²² Mootiin Waan Maraa isin kolbaa ifii tolfatiisaaf waan jaalateef, marroo maqaa guddaa ifitiif jedhee isin hin lakkisu.

²³ Ani karaa dansa'aa fi waan qajeelaa isin barsiisa malee, marroo teessaniif daadimatiisa lakkisiisaan Mootii Waan Maraa duratti cubbuu hujiis kiyya na irraa fagaatuu ti.

²⁴ Isin Mootii Waan Maraa qofa sodaadha'aatii gadhaa tokkochaa fi ad-datamumma'aan isa tajaajila'a. Waan guddoo inni isiniif godhelle hin dedhina'a!

²⁵ Hujii hantuu hujiisa yoo hin lakkisin ammoo, isinii fi mootiin keessanille ijjumaa hin baddan» jedhe.

13

Saamu'el Saa'ol Xixe

¹ Saa'ol yennaa mootii te'e nama woggaa soddomaa ti; inni woggaa afur-tamii lama Israa'eloota bulche*.

² Saa'ol Israa'eloota keessaa nama kuma sad file. Namooti kum lama qachaa, «Miikmaashi» jedhamu ka biyya koobittii Bet'el keessa Saa'ol waliin akka jiraatanu, kum tokko ammoo biyya Beniyaaminii qachaa Giibe'aa keessa Yonaataan waliin akka jiraatanu, worra hafe ammoo gara mana ifiititti akka deebi'anuu geegesse.

³ Yonaataan garee loltoota Filisxeemotaa ta qachaa Gebaa keessa jiranu lole. Worri Filisxeemotaalle tana dhage'ane. Saa'olille, «Ibrooti dhageettuu-tii» jedhee lafa mara keessatti tultullaa afuussise.

⁴ Israa'elooti marti, «Saa'ol garee loltoota Filisxeemotaa lole; worri Filisxeemotaa Israa'eloota jibbe» oduu jettu dhage'ane; maarre kolbaan marti Saa'ol waliin duuliisaaf Giilgalitti wolitti qabante.

⁵ Worri Filisxeemotaa garreettaa fardaan harkifamu kuma soddoma, abbootii fardaa kuma jaa fi loltoota bindillaa ta laakkossi isaanii akka maansa abbaayaa qarqaraa waliin, Israa'eloota loliisaaf wolitti qabamane. Isaan dhaqanee qachaa «Miikmaashi» jedhamu ka Bet-Aween irraa gara aduun baatu jiruu qubatane.

⁶ Israa'elooti haalli keessa jiranu sodaachisaa akka te'ee fi loltooti isaanille muddama guddaa keessa akka jiranu yennaa dhaggane, godaa fi ciggaa qore'ee keessa, odduu rassa'aa keessa, bowwa'aa fi boolla keessa seenanee dhokatane.

⁷ Worra Ibrootaa keessaa gariin laga Yordaanosii gamatti bu'anee gara lafa Gaadiitii fi lafa Giil'aadii deemane.

Saa'ol ammoo Giilgalitti hafe; namooti isa waliin jiranu marti guddoo sodaatanee hollatane.

⁸ Innille akkuma Saamu'el isatti hime guyyaa torba isa eege; Saamu'el ammoo gara Giilgalii hin dhunne; loltooti Saa'olille gara gara bittinnowiisa jalqabane.

⁹ Maarre Saa'ol, «Kennansa gubamuu fi kennansa tokkumma'aa as gara kiyya fida'a!» jedhee, kennansa gubamu dhikeesse.

¹⁰ Akkuma inni kennansa gubamu dhikeessee fixeen, yoosuma Saamu'el dhufe. Saa'olille isa qophatiisaaf gad baye.

¹¹ Saamu'el ammoo, «Wonni ati hujje maan?» jedhee isa gaafate. Saa'olille deebisee, «Kolbaan akka na biraa bittinnowiisatti jirtu, atille guyyaa hin dhufa jettetti akka dhufaa hin jirre, worri Filisxeemotaalle Miikmaashitti akka wolitti qabamane yennaa dhagge,

¹² ani, «Worri Filisxeemotaa na loliisaaf gara Giilgalii gad hin dhufan, anille haga ammaa qarqaarsaaf, Mootii Waan Maraa hin gaafanne!» jedhee herrege. Tanaaf, kennansa gubamu dhikeesse» jedhe.

¹³ Saamu'elille Saa'oliin, «Ati waan gowwumma'aa hujje. Ajaja Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti si ajaje hin eeganne. Silaa Mootiin Waan Maraa mootummaa teeti Israa'eloota irratti haga bara baraa si'iif hin jabeessaayyu.

¹⁴ Amma ammoo mootummaan teeti hin jabaattu. Mootiin Waan Maraa nama akka gadhaa isaa isaaf te'u dhaggateera. Ati ajaja Mootii Waan Maraa waan hin eegatiniif, Mootiin Waan Maraa bulchaa kolbaa isaa akka te'u isa filateera» jedhe.

* **13:1** *Bulche:* Afaan Ibrootaatiin laakkossi woggaa inni bulchee tun ifaa moti.

¹⁵ Achiin duuba Saamu'el Giilgalii ka'ee gara Giibe'aa lafa Beniyaamin keessaa dhaqe. Saa'olille worra isa woliin hafe laakkowe; isaanille gara nama dhibba jaa ti.

¹⁶ Saa'olii fi ilmi isaa Yonaataan worra isaan woliin hafane woliin lafa Beniyaaminii Giibe'aa keessa turane; worri Filisxeemotaa ammoo qachaa Miikmaashii keessa qubatane.

¹⁷ Gareen loltoota worra Filisxeemotaa kutaa saditti goodamanee bayane. Gareen tokko karaa Ofraatiin gara lafa Shuwaalii deebi'ane;

¹⁸ gareen lammeesso'oo karaa Bet-Horoonii, gareen sadeesso'oo karaa meessaa dhooqa Zebo'iimii karaa fuullee goomole'ee gorane.

¹⁹ Worri Filisxeemotaa, «Worri Ibrootaa shallaagaa yookiin eboo hin tumatin» waan jedhaneeranuuf, lafa Israa'elii mara keessa worri sibiila tumu hin jiruuyyu.

²⁰ Maarre Israa'elooti marti maarasha'aa fi qottoo, agara'aa fi haantuu qorqorsiifatiisaaf gara worra Filisxeemotaa dhaqan.

²¹ Maarasha'aa fi qottoo qorqorsiifatiisaaf meetii gara giraama saddeetii, agaraa, horooro'oo[†] fi sibiila mutaa qotiyyo'oon oofanuu qorqorsiifatiisaaf meetii gara giraama afurii kaffalan.

²² Maarre guyyaa lolaa, Saa'olii fi ilma isaa Yonaataan malee loltoota isaan woliin jiranu keessaa shallaagaa yookiin eboo nami qabu tokkolle hin jiru.

²³ Yennaa san loltooti Filisxeemotaa takka karaa gara Miikmaashii qaxxaamursu dooyiisaaf deemane.

14

Yonaataan Filisxeemota Injifate

¹ Guyyaa tokko ilmi Saa'olii Yonaataan dargaggeessa meya isaa ka woraanaa isaaf ba'atuun, «Koy karaa dhibi'iin gara quttuma Filisxeemotaa deenna» jedhe; garuu inni abbaa ifiititti tana hin hinne.

² Saa'ol qarqara Giibe'aa addee, «Miigron» jedhantu muka rumaanii tokko jala tee'eeraayyu; loltooti gara dhibba jaa isa woliin jiran.

³ Abbutturoon Elii, akaakoon Fiinehaasii, ilmi Ahiixubii obboleessa Ikaaboodii Ahiyaan, ka Shiilo'otti hayyicha Mootii Waan Maraa te'eeru, ka woyaa hayyumma'aa ta qomaa uffateeru isaan woliin jiraayyu; Yonaataan akka deemeeru nami tokkolle hin beenne.

⁴ Karaa Yonaataan gara quttuma Filisxeemotaa gamatti bu'ee bayuun, gara bita'aa fi middaatiin rassooti lama, tokko, ka «Bozez» jedhamu, kuun, ka, «Seenee» jedhamu jiraniyyu.

⁵ Rasaan tokko karaa kaabaatiin Miikmaashi fuula dura, kuun ammoo karaa kibbaatiin Gebaa fuula dura jira.

⁶ Yonaataan dargaggeessa meya isaa ka woraanaa isaaf ba'atuun, «Mootiin Waan Maraa nu'uuf hin lola fa te'a, koy gara garee loltoota Filisxeemotaa ta worra haqanqabaa hin qabatinii san gara gamaa buuna. Mootiin Waan Maraa namoota baca'aan yookiin diqqa'aan nu qarqaariisa hin dande'a» jedhe.

⁷ Dargaggeessi meya isaa ka woraanaa ba'atu sun isaan, «Waan gadhaa keeti keessatti yaadde maraa godhi. Duubatti hin deebi'in. Kunoo, anille akkuma keeti gadhaa tokkochaan si woliin jira» jedhe.

⁸ Achiin duuba Yonaataan isaan, «Kunoo, koy gara isaanii gamatti buunee, itti mudhanna.

[†] 13:21 *Horooroo*: Horooroon tun ta woy ittiin filanu.

⁹ Isaan nu'uun, «Haga nuuti gara keessan dhunnu achumatti nu eega'a» yoo jedhane, adduma jirutti isaan hin eeganna; gara isaaniille hin dhandhu.

¹⁰ Garuu isaan, «Gara keenna kowa'a» yoo jedhane, Mootiin Waan Maraa isaan harka keennatti dabarsee akka kenne beessisa nu'uuf waan te'uuf, gara isaanii hin dhandha» jedhe.

¹¹ Maarre isaan lamaanuu garee loltoota Filisxeemotaatti mudhatane. Filisxeemotille, «Kunoo, Ibrooti boolla itti dhokatane keessaa bayiissatti jiran» jedhane.

¹² Loltoota Filisxeemotaa keessaa jarri takka, Yonaataanii fi dargaggeessa meya isaa ka woraanaa isaaf ba'atuun, «Waan tokko isinitti mudhinna, gara keenna kowa'a» jedhane.

Maarre Yonaataanille dargaggeessa meya isaa ka woraanaa ba'atuun, «Mootiin Waan Maraa harka Israa'elootaatti dabarsee isaan waan kenneef, na gula koy!» jedhe.

¹³ Achiin duuba Yonaataan harkaa fi miilaan ol baye; dargaggeessi meya isaa ka woraanaa isaaf ba'atulle isa gula baye; worri Filisxeemotaa harka Yonaataanii bu'ane; dargaggeessi meya isaa ka woraanaa isaaf ba'atulle isa gula deemaa isaan ijjeese.

¹⁴ Yonaataanii fi dargaggeessi meya isaa ka woraanaa ba'atu lola guyyaa jalqabaatiin, lafa gamisa ximmaadii tokkoo keessatti namoota gara did-damaa ijjeesane.

¹⁵ Addee quttumaatti, ficha'aa fi kolbaa mara oddu'utti raafam te'e; loltootii fi gareen loltootaa hollatane; lattiille tachootee raafam guddaan te'e.

¹⁶ Eeddotti Saa'olii ta lafa Beniyaaminii Giibe'aa keessa jiranu, loltooti Filisxeemotaa asii fi achi akka bittinnowane dhaggane.

¹⁷ Saa'ol worra isa woliin jiruun, «Loltoota keenna laakkowa'aatii nu keessaa eentu akka deemee ilaala'a» jedhe; isaan yennaa loltoota laakkowane, Yonaataanii fi dargaggeessi isaa ka meya woraanaa isaaf ba'atu achi hin jiranu.

¹⁸ Yennaa san Saanduqi Gondooro'oo ka Waaqaa kolbaa Israa'elii bira waan jiruuf, Saa'ol mooticha Ahiiya'aan, «Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa as fidi!» jedhe.

¹⁹ Saa'ol hayyicha woliin dubbatiisatti adoo jiruu quttuma Filisxeemotaa keessa hogaan ittuma bira dabare; maarre Saa'ol hayyichaan, «Daadimatiisa lakkis!» jedhe.

²⁰ Achiin duuba Saa'olii fi kolbaan isa woliin jirtu wolitti qabamanee lolaaf duulane; achitti Filisxeemoti joonjitee, shallaaguma ifitiin wol fixanuun dhaggane.

²¹ Ibrooti dur Filisxeemota woliin jiranuu fi ta isaan woliin gara addee quttumaa deemanee, gara Israa'eloota Saa'olii fi Yonaataan woliin jiranuu deebi'ane.

²² Israa'elooti lafa koobittii Efreemii keessa dhokataneeranu marti, Filisxeemoti baqatiisatti akka jiranu dhage'anee, isaan loliisaaf gula deemaa ari'ane.

²³ Maarre Mootiin Waan Maraa guyyaa san Israa'eloota qarqaaree, haga qachaa Bet-Aweenii dabaranee lolane.

²⁴ Saa'ol guyyaa san, «Ani diinota kiiyya adoo haluu hin bayin haga gal-galaatti, nami sagalee nyaate ka abaarame te'uu ti» jedhee kolbaa waan kakachiiseef, kolbaan Israa'elii guddoo rakkatte; maarre kolbaa keessaa nami tokkolle sagalee afaaniin hin qanne.

²⁵ Loltooti marti gongomaa yennaa seenane, lafa irratti damma dhaggane.

²⁶ Isaan gongomaa keessa yennaa seenane dammi sun coccophuun dhag-gane; te'uu malee isaan kakuu waan sodaataneef, nami tokkolle damma san afaan ifitiin hin qanne.

²⁷ Yonaataan ammoo abbaan isaa kolbaa akka kakachiise waan hin dhage'iniif, qaccee ulee qabateeruu nadhii damma saniititti cuuphee mux-ate; ilti isaalle banante.

²⁸ Achiin duuba loltoota keessaa nami tokko, «Abbaan keeti, «Nami guyyaa adhaa sagalee nyaate ka abaarame te'uu ti» jedhee kolbaa kakachiiseera; tanaaf kolbaan marti dadhaddeerti» jedhe.

²⁹ Yonaataan deebisee, «Abbaan kiyya kolbaa teenna rakkiseera. Ani damma kana irraa diqquma waan muxadheef, ilti tiyya attam akka banante ilaala'a!

³⁰ Kolbaan waan diinota ifii irraa saante adha adoo nyaattee jiraatte silaa attam irra caalaa dansa'a ree? Filisxeemota keessalle'ee silaa tana caalaa ijjeefamaniyyu» jedhe.

³¹ Guyyaa san Israa'elooti worra Filisxeemotaa qachaa Miikmaashii irraa haga qachaa Ayalonii lolaneen duuba guddoo dadhabane.

³² Isaan waan saamane san hoolee, loonii fi jabbilee ariiti'iin qalatane foon dhiiguma woliin nyaatane.

³³ Achiin duuba jarri takka, «Kunoo, kolbaan foon dhiiguma woliin nyaat-tee Mootii Waan Maraa duratti cubbuu hujiisatti jirti» jedhanee Saa'olitti himane. Innille, «Isin seera cassitaneertan; amma dhakaa guddaa gan-galcha'aatii as gara kiyya fida'a!» jedhe.

³⁴ Achiin duuba inni, «Kolbaa keessa deddeema'aatii, isaaniin, «Tokko tokkoon keessan loonii fi hoolee teessan as gara kiyya fida'aatii, asumatti qaladha'aa nyaadha'a! Garuu foon dhiiguma woliin nyaatiisaan Mootii waan Maraa duratti cubbuu hin hujina'a» jedha'aa itti hima'a» jedhe. Maarre tokko tokkoon isaanii loon ifii fidanee galgaluma san achitti qalatane.

³⁵ Achiin duuba Saa'ol addee ciinca'aa Mootii Waan Maraatiif ijaare; tun addee ciinca'aa ta inni jalqaba irratti Mootii Waan maraatiif ijaare.

³⁶ Saa'ol, «Kowa'a, halkaniin worra Filisxeemotaa gula deennee haga latti bariitutti isaan saanna! Isaan keessalle'ee nama tokkolle lubbu'uun hin hamburru» jedhe.

Isaanille, «Waanuma sitti tole mara godhi» jedhanee deebisane.

Hayyichi ammoo, «Me, gara asumatti Waaqa gaafannuu ti» jedhe.

³⁷ Maarre Saa'ol, «Worra Filisxeemotaa gula deemuu? Harka Israa'elootaatitti dabarsitee isaan hin kennitaa?» jedhee Waaqa gaafate; Waaqi ammoo guyyaa san deebii isaaf hin kennine.

³⁸ Tanaaf, Saa'ol, «Isin sooressitooti loltootaa marti as kowa'a! Cubbuu adha hujante qorqorree dhaggina!

³⁹ Dhugaa Mootii Waan Maraa ka jiraataa te'ee Israa'eloota hamburee! Nami cubbuu tana huje ilma kiyya Yonaataan te'ulle ijjeefamuu ti!» jedhe. Garuu kolbaa keessaa nami tokkolle deebii hin kennine.

⁴⁰ Achiin duuba Saa'ol Israa'eloota maraan, «Isin gara san dhaabbadha'a! Ani fi ilmi kiyya Yonaataan ammoo gara kana hin dhaabbanna!» jedhe.

Kolbaalle isaan, «Ati waanuma sitti tole mara godhi!» jette.

⁴¹ Tanaaf, Saa'ol gara Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii daadimatee, «Ati deebii sirrii teete naaf deebisi» jedhee hixaa buuse; hixaan Saa'olii fi Yonaataan irra bu'e; kolbaalle bilisa baate.

⁴² Saa'ol, «Anaa fi ilma kiyya Yonaataaniif hixaa buusa'a» jedhe; hixaan Yonaataan irra bu'e.

⁴³ Achiin duuba Saa'ol Yonaataaniin, «Waan hujje natti himi!» jedhe; Yonaataanille, «Qaccee ulee tiyyaatiin damma diqqaa isaa muxadheera; kunoo, ani amma du'uu qaba!» jedhe.

⁴⁴ Saa'ol, «Yonaataan, ati yoo hin ijjeefamin, Waaqi na ijjeesuu ti!» jedhe.

⁴⁵ Kolbaan ammoo Saa'oliin, «Nami baafama guddaa akkanaa Israa'el keessatti fide, Yonaataan ijjeefamuu qabaa ree? Tun hin teetu; inni adha qarqaarsa Waaqaatiin tana waan hujjeef, dhugaa Mootii Waan Maraa ka jiraataa te'ee! Rifeensa mataa isaa keessaa tokkolle lafa hin bu'u» jedhane. Maarre kolbaan Yonaataan du'a irraa hamburte.

⁴⁶ Achiin duuba Saa'ol Filisxeemota ari'iisa lakkisee, isaan gara biyya ifii deebi'ane.

Mootummaa Saa'oliitii Fi Maatii Isaa

⁴⁷ Saa'ol Israa'el irratti mootii te'een duuba diinota adaala ifii: Mo'aabota, Amoonota, Edoomota, mootota Zoba'aatii fi Filisxeemota lole; inni addee dhage maratti diinota ifii injifate.

⁴⁸ Inni jannuma'aan lolee Amaaleqoota injifatee, Israa'eloota worra isaan saamu jalaa baase.

⁴⁹ Maqaan ilmaan Saa'olii, Yonaataan, Yishwii fi Malkiishuwa'a. Maqaan durra isaa angafittiin, Meraab, maandhittiin Mikaal.

⁵⁰ Maqaan haadha manaa isaa Ahino'aam; isiin intala Ahimaazii ti; maqaan ajajaa loltoota isaa Abneer; inni ilma Neerii obboleessa abbaa Saa'olii ti.

⁵¹ Abbaan Saa'olii Qiishii fi abbaan Abneerii Neer, isaan lamaanuu ilmaan Abii'elii ti.

⁵² Bara Saa'olii mara Filisxeemota woliin lolli jabaan jiraayyu; Saa'olille nama hunnaamessa yookiin janna yennaa dhagge, fudhatee tajaajilaa ifii godhata.

15

Saa'ol Amaaleqoota Lole

¹ Saamu'el Saa'oliin, «Kolbaa isaa Israa'el irratti mootii akka teetu ani akka si muuduuf, Mootiin Waan Maraa na ergeera; tanaaf ati ergaa Mootii Waan Maraa biraa dhutte caqasi!

² Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Israa'elooti biyya Gibxi'iitii yennaa bayane Amaaleqooti karaa irratti isaan waan mormaneef ani isaan hin adaba.

³ Ati amma dhaqiitii Amaaleqoota loli; dhiiraa fi dubartii, ijoolle'ee fi annoolee, loon, hoolee, gaalaa fi harree waan tokkolle adoo hin hamburin waan isaan qabanu mara ijjumaa balleessi» jedha» jedhe.

⁴ Maarre Saa'ol addee, «Xilaa'iim» jedhantutti namoota wolitti qabee, isaan keessaa loltoota miilaa kuma dhibba lama, Yihudaa keessalle'ee namoota kuma kudhan laakkowe.

⁵ Saa'ol gara qachaa Amaaleqootaa dhagee dhooqa takka keessatti riphee gaade.

⁶ Inni worra Qenootaatiin, «Isin yennaa Israa'elooti biyya Gibxi'ii keessaa baatu waan dansaa isaaniif waan gootaneef, ani worra Amaaleqootaa woliin akka isin hin balleessine isaan irraa adda baya'a» jedhe; maarre worri Qenootaa Amaaleqoota irraa adda bayane.

⁷ Achiin duuba Saa'ol worra Amaaleqootaa Hawiilaa irraa jalqabee haga Shuurii ta Gibxii irraa karaa aduun baatu jirtuutitti lole.

⁸ Inni mootii Amaaleqootaa Agaag lubbu'uun adoo jiruu booji'ee, kolbaa isaa mara shallaaga'aan ijjumaa balleesse.

⁹ Saa'olii fi loltooti isaa ammoo Agaag, loonii fi hoolee dadansaa, jabbi'ii fi buruusota cocooma adoo hin ijjeesin lakkisane. Isaan kana ijjumaa balleessuu hin barbaanne; garuu isaan waan woy hin baane ka tuffatane qofa balleessane.

Saa'ol Mootii Waan Te'eef Tuffatame

¹⁰ Achiin duuba jechi Mootii Waan Maraa gara Saamu'elii dhufee,

¹¹ «Saa'ol na hordofatiisa lakkisee, seera kiyyalle waan hin eegatiniif, ani waan isa mootonseef gaabbeera» jedhe. Saamu'elille guddoo aaree halkan guutuu gara Mootii Waan Maraa iyye.

¹² Saamu'el barii ganamaan ka'ee Saa'ol dhaggiisaaf dhage; garuu, «Saa'ol gara Qarmelosii deemeera; achitti ulfinna ifitiif soodduu dhaabbateen duuba, deebi'ee gara Giilgalii deemeera» jedhanee isatti himane.

¹³ Saamu'el gara Saa'olii yennaa dhufe, Saa'ol isaan, «Mootiin Waan Maraa si eebbisu! Ani ajaja Mootii Waan Maraa muummeseera» jedhe.

¹⁴ Saamu'elille, «Madhi hoole'eetii fi baroodiis korommi'ii ka ani gurra kiyyaan dhage'u kun maan?» jedheen.

¹⁵ Saa'ol deebisee, «Kun waan Loltooti worra Amaaleqootaa irraa boojitee fidde, isaan hoolotaa fi korommii dadansaa Mootii Waan Maraa Waaqa keetiif ciincaa dhikeessiisaaf fidaneeran; waan hafe ijjumaa balleessi-neerra» jedhe.

¹⁶ Saamu'elille Saa'oliin, «Diqqoo eegi! Halkan kale'ee waan Mootiin Waan Maraa natti hime sitti hima!» jedhe; Saa'olille, «Natti himi me!» jedhee deebise.

¹⁷ Saamu'elille, «Ati akka nama diqqaa tokkootitti ifi ilaaltulle, sooreessa gosa Israa'elii teetee hin jirtuu ree? Mootiin Waan Maraa Israa'eloota irratti mootii si godhee muudeera;

¹⁸ Mootiin Waan Maraa, «Dhaqiitii, Amaaleqoota cubbaaleyyii san ijjumaa balleessi! Haga isaan ijjumaa badanutti loli» jedhee si ergeeraayyu;

¹⁹ ati Mootii Waan Maraatiif maaf hin ajajamin ree? Boojuu fudhatiisaaf joljoltee Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu maaf hujje ree?» jedhe.

²⁰ Saa'olille deebisee Saamu'eliin, «Ani Mootii Waan Maraatiif ajajameera; gara inni itti na ergelle dhageera; Amaaleqoota mara balleessee, mootii isaanii Agaagille booji'ee fideera.

²¹ Loltooti ammoo Mootii Waan Maraa Waaqa keetiif Giilgalitti ciincaa dhikeessiisaaf, boojuu keessaa hoolotaa fi korommii dadansaa fuudhanee dhufaneeran» jedhe.

²² Saamu'el deebisee, «Mootiin Waan Maraa nama jecha isaatiif ajajamutti haga gammadu, kennansa gubamuu fi ciincaa dhikaatutti hin gammadaa ree? Kunoo, ajajamiis ciincaa dhikeessanu caala; dhage'iisille korbeessa hoole'ee coomaleessa ciincaa dhikeessanu caala.

²³ Fingilli akka cubbuu nama moruu ti; koorrille waaqa dharaa akka waaqonfatiisaa ti; ati jecha Mootii Waan Maraa waan tuffateef, innille akka ati mootii hin teene si tuffateera» jedheen.

²⁴ Achiin duuba Saa'ol Saamu'eliin, «Ani cubbuu hujeera; ajaja Mootii Waan Maraatiif fi seera keeti irra dabareera; kolbaa waan sodaadheef waan isaan na gaafatane mara godheera.

²⁵ Tanaaf, amma maganne'e cubbuu tiyya naa araaramiitii, Mootii Waan Maraa akka waaqonfadhu na woliin deebi'i» jedhe.

²⁶ Saamu'el ammoo isaan, «Ani si woliin hin deebi'u! Ati jecha Mootii Waan Maraa waan tuffateef, innille akka ati Israa'el irratti mootii hin teene si tuffateera» jedhe.

²⁷ Saamu'el deemiisaaf yennaa garagale, Saa'ol qaccee handaara woyaa isaa qabatee, woyaalle targaate.

²⁸ Saamu'elille, «Mootiin Waan Maraa mootummaa Israa'elii adha si irraa targaasee, nama dhibii si caaluuf dabarsee kenneera.

²⁹ Mootiin Waan Maraa ka ulfinna Israa'elii te'e, hin hollu yookiin hin gaabbu; inni nama waan hin te'iniif akka namaa hin gaabbu» jedheen.

³⁰ Achiin duuba Saa'ol deebisee, «Ani cubbuu hujeera, maganne'e jaarsolee kolbaa tiyyaatii fi Israa'eloota duratti ulfinna naaf kenni; Mootii Waan Maraa Waaqa keeti akka waaqonfadhu maganne'e na woliin deebi'i» jedheen.

³¹ Maarre Saamu'el isa woliin deebi'ee, Saa'olille Mootii Waan Maraa waaqonfate.

³² Achiin duuba Saamu'el, «Mootii Amaaleqootaa Agaag naa fida'a!» jedhe; Agaagille, «Dhugumaan duuti hadhoottuun dabarteerti» jedhaa gammadaa gara isaa dhufe.

³³ Saamu'el ammoo, «Akkuma shallaagaan keeti dubartoota ta ijoollee hin qanne goote, haati teetille dubartoota keessaa ta ijoollee hin qanne teeti» jedhee, Giilgalitti Mootii Waan Maraa duratti Agaag kukkute.

³⁴ Achiin duuba Saamu'el gara Raama'aa deeme; Saa'olille gara mana ifii ka Giibe'aa keessa jiruu deeme.

³⁵ Saamu'el Saa'oliif bowulle haga du'a ifiititti isa dhaggiisaaf gara isaa hin deenne; Mootiin Waan Maraa Saa'ol Israa'el irratti waan mootii godheef gaabbe.

16

Daawiti Mootii Te'iisaaf Muudame

¹ Mootiin Waan Maraa Saamu'eliin, «Akka inni Israa'el irratti mootii hin teene, nama ani tuffadhe Saa'oliif haga yoomii bootta? Ani ilmaan Iseyii keessaa nama mootii te'u waan dhaggadheef, gara Iseyii nama biyya Betlehemii waan si erguuf, meya gaafaa keetitti zayitii ejersaa guutii fudhadhuu deemi» jedhe.

² Saamu'el ammoo, «Saa'ol tana yoo dhage'e na waan ijjeesuuf, ani attam dhaquu dande'a ree?» jedhe;

Mootiin Waan Maraa deebisee, «Goronsa tokko geessiitii, «Mootii Waan Maraatiif ciincaa dhikeessiisa dhufeera» jedhi!

³ Iseyille gara addee ciincaa itti dhikeessituu waami; ani waan ati gootu sitti himee, nama ani sitti himu naaf hin muudda» jedhe.

⁴ Saamu'el waan Mootiin Waan Maraa isa ajaje godhe; yennaa inni Betlehem geye jaarsoleen qachaa sanii hollataa isa qophatiisaaf dhuttee, «Ati nageyaafuu dhuttee?» jettee isa gaafatte.

⁵ Saamu'el deebisee, «Ee nagewuma; ani Mootii Waan Maraatiif ciincaa dhikeessiisaaf dhufe; isinille ifi woyyoonsa'aatii na woliin gara ciinca'aa kowa'a» jedhe; achiin duuba inni Iseyii fi ilmaan isaa woyyoonsee gara ciinca'aa san akka dhufanu isaan waame.

⁶ Isaan yennaa achi geyane, Saamu'el isaan keessaa Eliiyaab dhaggee, «Dhugumaan nami Mootiin Waan Maraa muude, Mootii Waan Maraa dura kunoo, dhaabbateera» jedhee herree.

⁷ Mootiin Waan Maraa ammoo Saamu'eliin, «Ani waan isa tuffadheef bifa isaa yookiin dheerinna hojjaa isaa hin ilaalin; Mootiin Waan Maraa akka nami ilaalu hin ilaalu; nami fuula ilaala; Mootiin Waan Maraa ammoo qalbii ilaala» jedhe.

⁸ Achiin duuba Isey Abinaadaab waamee fuula Saamu'elii dura akka dabaru godhe; Saamu'el ammoo, «Mootiin Waan Maraa isa kanalle hin filanne» jedheen.

⁹ Iseyille Shamaa fuula isaa dura akka dabaru godhe; Saamu'el ammoo, «Mootiin Waan Maraa isalle hin filanne» jedhe.

¹⁰ Isey ilmaan ifii torba fuula Saamu'elii dura akka dabaranu godhe; Saamu'el ammoo, «Mootiin Waan Maraa isaan kana hin filanne» jedhe

¹¹ Maarre inni Iseyiin, «Ilmaan teeti tanuma calla'aa?» jedhee gaafate. Iseyille, «Maandhich isaan maraa hin dhunne; inni hoolee tissiisatti jira» jedhee deebise;

Saamu'elille, «Haga inni dhufutti nuuti waan gad hin teenneef, itti ergiitii isa fichisiisi!» jedhe.

¹² Tanaaf inni nama itti ergee isa fichisiise; innille diimaa, nama miidha-gaa ila kuulle'ee ti. Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Saa'oliin, «Nami ani filadhe isa kana; ka'iitii isa muudi!» jedhe.

¹³ Saamu'elille gaafa Zayiti'in guutame fuudhee obboleeyyan isaa duratti isa muude; guyyaa sanii jalqabee Ayyaanni Mootii Waan Maraa Daawiti irratti bu'e; achiin duuba Saamu'el gara Raama'aa deebi'e.

Daawiti Saa'ol Tajaajile

¹⁴ Ayyaanni Mootii Waan Maraa Saa'ol irraa fagaatee, ayyaanni hamaan ajaja Mootii Waan Maraatiin ergame isa rakkise.

¹⁵ Tajaajiltooti Saa'olii isaan, «Kunoo, ayyaanni hamaan ajaja Mootii Waan Maraatiin ergamee si rakkisiisatti jira.

¹⁶ Tanaaf ayyaanni hamaan ka Mootiin Waan Maraa sitti erge sun yennaa sitti dhufu, nama kiraara gudicha akka dansaa taphatee akka ati fayyitu si godhu akka si'iif barbaannu nu tajaajiltoota teeti ajaji!» jedhane.

¹⁷ Maarre Saa'ol tajaajiltoota ifitiin, «Nama akka dansaa kiraara guddicha taphatu barbaada'aatii naa fida'a!» jedhe.

¹⁸ Tajaajiltoota keessaa tokko, «Nama kiraara guddicha akka dansaa taphatu ilma Iseyii nama biyya Betlihemii dhaggeera; inni janna, ka lola dande'u, nama dubbii beekuu fi nama dhaaba tolu; Mootiin Waan Maraalle isa woliin jira» jedhee deebise.

¹⁹ Tanaaf Saa'ol gara Iseyii nama erge, «Ilma keeti ka tissee hoole'ee Daawiti naaf ergi» jedhe.

²⁰ Maarre Isey daabbo'oo fi qalqalluu daadhii woyni'ii harre'etti fe'ee, buruusoo korbeessa re'e'ee ilma ifii Daawititti kennee gara Saa'olii erge.

²¹ Daawiti gara Saa'olii dhufee isa tajaajiliisa jalqabe; Saa'olille guddoo isa jaalatee, innille dargaggeessa meya isaa ka woraanaa isaaf ba'atu te'e

²² Achiin duuba Saa'ol gara Iseyii nama ergee, «Daawiti na duratti fudhatama waan dhaggateef, na bira tee'ee na tajaajiluu ti» jedhe.

²³ Ayyaanni hamaan Waaqa biraa gara Saa'olii yennaa dhufu, Daawiti kiraara guddicha taphataayyu; Saa'olille fayyee ayyaanni hamaan sun isa irraa fagaataayyu.

17

Daawitii Fi Goliyaad

¹ Filisxeemoti loltoota ifii qachaa Yihuda'aa Sokooti keessatti lolaaf wolitti qabatane; isaanille Sokootii fi Aazeqaa wodhakkaa Efes-Damiim keessa qubatane.

² Saa'olii fi Israa'elooti wolitti qabamanee dhooqa Elaa keessa qubatanee, Filisxeemota loliisaaf tarree galane.

³ Wodhakkaa isaanii dhooqi takka jirtuun, Filisxeemoti kooba takka, Israa'elootille kooba dhibii qabatane.

⁴ Nami qachaa Gaatiitii dhufe tokko ka hojjaan isaa ciqilee jaa fi taakku'uu, ka jannuma'aan beekkame Goliyaad quttuma Filisxeemotaa keessaa bayee dhufe.

⁵ Inni gullee sageettuu irraa hujante mata'atti keyatee, qomoo sageettuu irraa hujante meya lolaa ta kiiloogiraama shantamii torbaa uffateeraayyu.

⁶ Inni waan akka quncee mukaa ta sageettuu irraa hujante miila ifiititti hidhatee, urdee sageettuu irraa hujante gurmoo ifi irraa qabaayyu.

⁷ Somey eboo isaa muka worri woyaa dhowu, woyaa dhowe san itti maru geettiyyu; sibiilli eboo isaalle gara kiiloogiraama torbaa ti; tajaajilaan wontee isaa ba'atu isa dura deemaayyu.

⁸ Goliyaad dhaabbatee loltoota Israa'elii tarree galtee jirtuun, «Isin maaniif tarree galtanee lolaaf baatane? Ani nama biyya Filisxeemotaa ti; isinille tajaajiltoota Saa'oliitii motii? Nama tokko filadha'a; inni gara kiyaa dhufuu ti!

⁹ Inni na lolee yoo na ijjeesuu dande'e, nuuti tajaajiltoota teessan hin teena. Ani ammoo isa injifadhee yoo isa ijjeese, isin tajaajiltoota teenna teetanee nu hin tajaajiltan» jedhe.

¹⁰ Achiin duuba nami biyya Filisxeemotaa sun, «Ani adha loltoota Israa'elii haga ilaala, nama na lolu tokko naaf kenna'a!» jedhe

¹¹ Saa'olii fi Israa'elooti marti dubbii nami biyya Filisxeemotaa dubbate tana dhage'anee, nayanee guddoo sodaatane.

Daawiti Addee Quttuma Loltoota Israa'elii Dhaqe

¹² Daawiti ilma Iseyii nama biyya Efraata'aa, ka biyya Yihuda'aa qachaa Betlihemii keessa le'uu ti. Isey ilmaan dhiiraa saddeeti qabaayyu; bara Saa'olii keessa inni guddatee dulloomeeraayyu.

¹³ Ilmaan Iseyii gugurdoon sad lolaaf Saa'ol woliin duulaneeraniyyu; maqaan ilmaan isaa ka lolaaf duulane, angafichi Eliiyaab, ka lammeesso'oo Abinaadaab, ka sadeesso'oo Shama'a.

¹⁴ Daawiti isaan maraaf maandhicha; obboleeyyan isaa gugurdoon sad Saa'ol woliin duulane;

¹⁵ Daawiti ammoo hoolee abbaa ifi tissiisaaf Saa'ol biraa gara Betlihemii deebi'e.

¹⁶ Nami biyya Filisxeemotaa sun guyyaa afurtama ganamaa fi galgala loltoota Israa'elootaa dura dhufee dhaabbataayyu.

¹⁷ Isey ilma ifi Daawitiin, «Akum'ee garbu'uu kiiloogiraama diddamaa fi xaltaa daabbo'oo kudhan kana qabadhuutii obboleeyyan teetiif ariifadhuu addee quttumaa geessi!

¹⁸ Itittuu goge kudhan kanalle ajajaa loltootaatiif geessi; obboleeyyan teeti nageyaan akka jiranu ilaaliitii, nageyaan jiraatiisa isaanii beessisa isaan biraa fidii koy.

¹⁹ Isaan Saa'olii fi Israa'eloota mara woliin dhooqa Elaa keessatti Filisxeemota loliisatti jiran» jedhe.

²⁰ Daawiti boruuyyaa ganama ka'ee hoolota tissitootatti lakkisee, waan Isey isa ajaje ba'atee deeme; loltooti addee qabataneeranu, lolaaf dhaadataa bayiisatti jiranuun addee quttumaa san geye.

²¹ Israa'elootii fi Filisxeemoti tarree galanee fuula wolitti galaneeraniyyu.

²² Daawiti meya ifi namicha galaa eegu biratti lakkisee, gara lolaa fiigee obboleeyyan ifi dhaggee nageya fuudhe.

²³ Inni obboleeyyan ifii woliin adoo haasowiisatti jiruu, Goliyaad nami janni worra Filisxeemotaa ka biyya Gaatiitii dhufe, tarree loltootaa keessaa bayee akkuma qaraa dhaadatuun, Daawiti isa dhage'e.

²⁴ Israa'elooti Goliyaad yennaa dhaggane, marti isaaniituu guddoo so-daatanee isa duraa baqatane.

²⁵ Isaan, wol wolille'een, «Nama guyyuma guyya'aan dhufee Israa'eloota arrassu kana hin dhaggitan. Nama isa ijjeeseef mootichi karra bacaa hin kenna. Intala ifille isa fuusisee, maatii abbaa isaalle biyya Israa'elii keessatti gibira akka hin kaffalle hin godha» jedhane.

²⁶ Daawiti worra isa bira dhaabbateen, «Nama biyya Filisxeemotaa kana ka ijjeese, salphinna akkanaa kana Israa'eloota irraa nama balleessuuf maan isaaf godhan? Nami biyya Filisxeemotaa ka haqanqabaa hin qabatin kun, loltoota Waaqa jiraata'aatitti dhaadatiisaaf inni eennu?» jedhee gaafate.

²⁷ Isaanille, «Nama isa ijjeeseef wonni godhamu'uu male kana» jedhanee waanuma qara dubbatane san deebisane isatti himane.

²⁸ Obboleessi isaa angafichi Eliiyaab, Daawiti namoota woliin dubbatuun isa dhage'ee, aaree boobe'ee, «Maaf as dhutte? Hoolota diqqoo san goomolee keessatti eennu biratti lakkitte? Ati sababa koora keetiitii fi hammeenna gadhaa keetiitiif, lola ilaaliisaaf akka ati dhutte ani hin beeka» jedhe.

²⁹ Daawitille, «Ani amma maan godhe ree? Ani woyiiyyuu gaafatiisumalle hin dande'uu?» jedhe.

³⁰ Achiin duuba inni gara nama dhibi'ii deebi'ee, gaaffuma san deebisee gaafate; namootille deebuma qaraa taan isaaf deebisane.

³¹ Saa'ol waan Daawiti dubbate dhage'ee, nama ergee Daawiti gara ifii waansise.

³² Daawitille Saa'oliin, «Ani tajaajilaan keeti dhagee isa waan loluuf sababa Filisxeemicha kanaatiin gadhaan nama tokkole hin raafamin» jedhe.

³³ Saa'olille deebisee Daawitiin, «Ati ijoolle'e; inni garuu dargaggummaa ifitiin jalqabee lola waan barateeruuf, Filisxeemicha kana woliin wol loliisaaf hin dandeettu» jedheen.

³⁴ Daawiti ammoo Saa'oliin, «Ani tajaajilaan keeti hoolota abbaa kiyyaa yennaa tissu, neenqi yookiin doobbaan dhufee tika keessaa hoolee yookiin re'ee takka yoo qabu,

³⁵ reebbe dhowee irraa buusa. Yennaa inni natti garagalu laagadaa isaa hudhee dhowee isa ijjeesaayyu.

³⁶ Ani tajaajilaan keeti neenqaa fi doobbaalle ijjeeseera; Filisxeemichi kun ka haqanqabaa hin qabatin, loltoota Waaqa jiraata'aa waan arrasseef, innille akkuma bineensota san keessaa tokkochaa hin te'a.

³⁷ Mootiin Waan Maraa ka kotte neenqaatii fi kotte doobba'aa jalaa na baase sun harka Filisxeemichaa jalalle'ee na hin baasa» jedhe.

Saa'olille Daawitiin, «Dhaqi, Mootiin Waan Maraa si woliin jiraatuu ti,» jedhe.

³⁸ Achiin duuba Saa'ol woyaa ifi ta lolaa Daawititti uffisee, gullee sageettuu irraa hujante mataa isaatitti keyee, qomoo itti uffise.

³⁹ Daawiti woyaa akkanaa uffatee waan hin beenneef, woyaa lolaa irratti shallaagaa hidhatee ideemiisaaf wodhaane. Inni Saa'oliin, «Tanaan qara uffadhee waan hin baratiniif akkas uffadhee loliisa hin dande'u» jedhe. Maarre inni woyaa san ifi irraa baafate.

⁴⁰ Achiin duuba ulee ifii fudhatee, dhakaa qunqumhicha shan laga keessaa filee korojoo ifiititti naqateen duuba, looyyaa* harkatti qabatee Filisxeemichatti dhikaate.

⁴¹ Filisxeemichille tajaajilaa meya lolaa isaa ba'atu ifiin dura ideensisaa gara Daawitii dhikaataa dhufe.

⁴² Filisxeemichi Daawiti ilaalee yennaa dhagge, Daawiti diimaa miidhagaa dhaaba tolu, ijoollicha waan te'eef isa tuffate.

⁴³ Inni Daawitiin, «Ani saree teenaan ulee qabattee natti dhuttee?» jedhee, maqaa waaqota ifiitiin isa abaare.

⁴⁴ Inni, «Me, gara kiyaa as koy! Ani foon keeti allaatti'ii fi bineensaafille hin kenna» jedhe.

⁴⁵ Achiin duuba Daawiti Filisxeemichaan, «Ati shallaagaa, ebo'oo fi urdee teeti qabattee natti dhutta; ani ammoo maqaa Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, Waaqa loltoota Israa'elii ka ati arrassituun sitti dhufa.

⁴⁶ Biyyi lafaa marti Israa'el keessa Waaqi akka jiru akka beettuuf, adha Mootiin Waan Maraa harka kiyatti dabarsee si hin kenna. Ani dhowee si jisse mataa keeti si irraa hin kuta; guyyaa adhaa reeffa loltoota Filisxeemotaa allaatootaa fi bineensotaafille hin kenna.

⁴⁷ Worri asitti wolitti qabame marti Mootiin Waan Maraa shallaaga'aan yookiin ebo'oon akka nama hin baanne hin beekan; lolli ka Mootii Waan Maraa waan te'eef, isin mara harka keennatti dabarsee hin kenna» jedhe.

⁴⁸ Yennaa Filisxeemichi ka'ee Daawiti loliisaaf gara isaa dhikaate, Daawitille isa loliisaaf ariiti'iin gara addee lolaa fiige.

⁴⁹ Daawiti subba ifii keessa harka keyee, dhakaa fuudhee, looyya'aan qolaansee, adda Filisxeemichaa dhowe; dhakaan sun adda isaa keessa lixee seenee, innille gad gombifamee addaan lafa dhowe.

⁵⁰ Maarre Daawiti looyya'aa fi dhakaa qofaan Filisxeemicha injifate; inni shallaagaalle harkatti adoo hin qabaatin Filisxeemicha dhowee ijjeese.

⁵¹ Achiin duuba Daawiti gara isaa fiigee isa gubbaa dhaabbate. Inni shallaagaa isaatuu gonofaa isaa keessaa buqqifatee, ittiin mataa isaa irraa mure.

Worri Filisxeemotaa gooti isaanii akka du'e yennaa dhaggane deebi'anee baqatane.

⁵² Achiin duuba worri Israa'eliitii fi Yihuda'aa ka'anee qeexalaa, worra Filisxeemotaa haga seensuma Gaatiitii fi haga karra Eqroonii ari'ane. Maarre reeffi Filisxeemotaa karaa Sha'araayimii irraa haga Gaatiitii fi haga Eqrooniititti jijjige.

⁵³ Worri Israa'elootaa yennaa Filisxeemota ari'anee deebi'ane addee qutuma isaanii saamane.

⁵⁴ Daawitille mataa Filisxeemichaa fuudhee gara Yersaaleemii geesse; meya lolaa ka isaa ammoo dunkaanii ifii keessa keyate.

⁵⁵ Daawiti Filisxeemicha loliisaaf deemuun Saa'ol yennaa dhagge, ajajaa loltootaa Abneeriin, «Abneer, dargaggeessi kun ilma eennuu ti?» jedhee gaafate.

Abneerille, «Ee mooticha, du'a lubbuu teetiitiin kakadha, ilma eennuu akka inni te'e, ani hin beeku» jedhee deebise.

⁵⁶ Mootichille, «Dargaggeessi kun ilma eennu akka te'e beeki» jedheen.

⁵⁷ Daawiti Filisxeemicha ijjeese akkuma deebi'een, mataan Filisxeemichaa harka Daawitii keessa adoo jiruu, Abneer Saa'ol dura isa dhi-keesse.

⁵⁸ Saa'ol isaan, «Dargaggeessa kana, ati ilma eennuu ti?» jedhee gaafate.

* **17:40** Looyyaa: Lafa tokko tokkotti *yanbarsa* jedhama.

Daawitille isaan, «Ani ilma tajaajilaa keeti ka Iseyii nama qachaa Betli-hemii ti» jedhe.

18

Yonaataanii Fi Daawiti jaala Wolii Te'ane

¹ Daawiti akkuma Saa'ol woliin dubbatee fixateen, Yonaataan Daawiti woliin jaalomee, akka lubbuu ifii isa jaalate.

² Guyyaa saniin jalqabee, Saa'ol isa fudhate; akka Daawiti gara mana abbaa ifii deebi'u isa hin lakkinne.

³ Yonaataan akka lubbuu ifii isa waan jaalateef, isa woliin gondoorroo godhate.

⁴ Yonaataan geellaa ifii uffate ifi irraa baafatee meya woraanaa, shallaagaa ifille, guube'ee fi hiituu hidhaa ta ifii woliin Daawitiif kenne.

⁵ Daawiti addee Saa'ol isa erge mara dhagee haajaa ergameef akka dansaa waan muummessuuf, Saa'ol loltoota irratti baallii isaaf kenne; tunille kolbaa maraa fi tajaajiltoota Saa'olii gammachiitte.

⁶ Daawiti Filisxeemicha ijjeeseen duuba, namooti gara mana ifii yennaa deebi'anu, dubartooti dibbe'ee fi maseenqoo qabatanee, sirbaa, qeexalaa, ilillisaa mooticha Saa'ol fudhatiisaaf qachaa Israa'elii mara keessaa gad bayane.

⁷ Dubartooti sun wol woliin, «Saa'ol kuma hedduu ijjeese; Daawitille kuma kudhan hedduu ijjeese» jedhaa sirbite.

⁸ Dubbiin tun Saa'ol waan hin gammachiisiniif guddoo aare; inni, «Daawitiif kuma kudhan hedduu, naaf ammoo kuma hedduu qofa laakkowane; mootummaa fudhatiisa malee maanti isaaf hafe ree?» jedhe.

⁹ Guyyaa saniin jalqabee Saa'ol Daawiti hinaafe.

¹⁰ Boruyyaa, ayyaanni hamaan Waaqa biraa Saa'ol irratti bu'e; Daawiti akkuma qaraa kiraara guddicha yennaa taphatu, Saa'ol mana ifii keessatti akka nama maraata'aa dubbatiisatti jiraayyu; Saa'ol eboo ifille harkatti qabateeraayyu.

¹¹ Inni, «Daawiti dhaaba manaa woliin wolitti qassiisa» jedhee herreege eboo darbate; Daawiti garuu yennaa lama isa duraa miliqe.

¹² Mootiin Waan Maraa isa lakkisee Daawiti woliin waan jiraateef, Saa'ol Daawiti sodaate.

¹³ Maarre inni Daawiti ifi biraa fageessee ajajaa loltoota kumaa isa godhe; Daawitille yennaa duulaa isaan sooresse.

¹⁴ Mootiin Waan Maraa isa woliin waan jiraateef, wonni Daawiti huju marti isaaf hin milkootti.

¹⁵ Daawiti milkii guddoo akka qabu yennaa dhagge, Saa'ol isa sodaate.

¹⁶ Ka isaan soressu isa waan te'eef, namooti Israa'eliitii fi Yihuda'aa marti ammoo Daawiti jaalatane.

Daawiti Intala Saa'olii Fuudhe

¹⁷ Achiin duuba Saa'ol Daawitiin, «Kunoo, ani intala tiyya angafittii Meraab si'iif hin kenna. Atummaan ilma goota naaf te'iitii lola Mootii Waan Maraa loli» jedhe; Saa'ol gadhaa ifi keessatti, «Filisxeemoti isa ijeettuu ti malee, ani isa hin ijjeesu» jedhee herreegeeraayyu.

¹⁸ Daawiti ammoo Saa'oliin, «Soddaa mootichaa te'iisaaf ani eennu? Israa'el keessatti maatiin tiyya yookiin sanyiin abbaa kiyyaa tam?» jedhe.

¹⁹ Te'uu malee intalti Saa'olii Meraab Daawiti heerumiisaaf yennaa maltetti, nama biyya Meholaatii Adrii'el heerumte.

²⁰ Intalti Saa'olii Milkaal garuu Daawiti jaalatte; Saa'olille tana dhage'e gammade.

²¹ Saa'ol gadhaa ifii keessatti, «Akka isiin tiyyoo isaaf teetee, innille harka Filisxeemotaatitti du'u, ani isii isaaf hin kenna» jedhee herrege. Tanaaf Saa'ol Daawitiin, «Kunoo, ati yennaa lammeesso'oo soddaa naaf hin teeta» jedhe

²² Achiin duuba Saa'ol tajaajiltoota ifii ajajee, «Daawitiin, «Kunoo, mootichi sitti gammadeera; tajaajiltooti isaalle martinuu waan si jaalatanuuf soddaa isaa te'i» jedha'aatii dhossa'aan itti hima'a» jedhe.

²³ Maarre tajaajiltooti Saa'olii dubbii tana Daawititti himane; Daawitille, «Ani nami hiyyeessi, ka gurra dansaa hin qanne, Soddaa mootichaa te'iisi waan kasoo isinitti fakkaattee?» jedheen.

²⁴ Tajaajiltooti Saa'oliille waan Daawiti jedhe yennaa isatti himane,

²⁵ Saa'ol deebisee, « «Mootichi diinota ifii haluu bayiisaaf akka ati Filisxeemota dhibba tokko yakkattee shoggoraa isaanii fiddu malee, maraa intalaa waan dhibii si irraa hin barbaadu» jedha'aatii Daawititti hima'a» jedhe. Saa'ol akka Daawiti harka Filisxeemotaatitti du'uuf tana herrege.

²⁶ Tajaajiltooti Saa'olii tana Daawititti yennaa himane, soddaa mootichaa te'iisi isa gammachiise. Guyyaan murteeffame adoo hin dabarin,

²⁷ Daawitii fi namooti isa woliin jiranu dhaqanee Filisxeemota dhibba lama ijjeesane; Daawiti soddaa mootichaa te'iisaaf gogaa haqanqabaa qabee san akka laakkossa isaaniititti mootichaaf dhikeesse; achiin duuba Saa'ol intala ifii Mikaa'ol Daawitiif kenne.

²⁸ Garuu Saa'ol akka Mootiin Waan Maraa Daawiti woliin jiru dhaggee yennaa beeke, intalti isaa Mikaa'ol akka isa jaalatte yennaa hubate,

²⁹ Saa'ol ka qaraa caalaa Daawiti sodaatee, bara jireenna ifii mara diina isaa te'e.

³⁰ Achiin duuba ajajjooti loltoota Filisxeemotaa akkuma qaraa lolaaf bayanee dhufane; Daawitille tajaajiltoota Saa'olii mara caalaa milkii dhaggatee maqaan isaa beekkame.

19

Saa'ol Daawiti Ijjeesiisaaf Wodhaane

¹ Daawiti akka ijjeesanuuf Saa'ol ilma ifii Yonaataanii fi tajaajiltoota ifii maratti hime; ilmi Saa'olii Yonaataan garuu guddoo Daawiti jaalataayyu.

² Yonaataan, «Abbaan kiyya Saa'ol si ijjeesiisaaf barbaada. Tanaaf, boru ganama ifi eegadhu. Addee dhokaataa keessatti dhokadhuutii achuma turi!

³ Ani fichaa ati keessa jirtu abbaa kiyya bira dhaabbadhee marroo teeti isatti hin dubbadha. Waan te'u ilaalee sitti hin hima» jedhee Daawititti hime.

⁴ Yonaataan marroo Daawitii waan dansaa dubbatee abbaa ifii Saa'oliin, «Ee, mooti'i! Tajaajilaan keeti waan guddoo dansaa te'e si'iif huje malee, si hin yakkine; tanaaf isa hin yakkin.

⁵ Inni lubbuu ifiitiif adoo hin mararfatin Filisxeemicha san ijjeese; Mootiin Waan Maraalle injifachaa guddaa kolbaa Israa'elii maraaf kennee, atille dhaggitee gammadeerta. Maaf sababa malee nama yakkaa hin qanne Daawiti ijeettee cubbuu hujja ree?» jedhe.

⁶ Saa'ol dubbii Yonaataanii caqasee, «Dhugaa Mootii Waan Maraa ka jiraataa te'ee, Daawiti hin ijjeefamu!» jedhee kakate.

⁷ Maarre Yonaataan Daawiti waamee dubbii tana mara isatti himee gara Saa'olii isa geesse; Daawitille akkuma qaraa Saa'ol tajaajile.

⁸ Ammalle lolli dhibiin ka'e. Daawitille dhaqee Filisxeemota lolee, guddoo isaan fixee, isaanille isa duraa baqatane.

⁹ Achiin duuba Saa'ol eboo qabatee mana ifii adoo te'eeruu, Mootii Waan Maraa biraa ayyaanni hamaan isa irratti bu'e. Daawitille kiraara guddicha taphatiisatti jiraayyu.

¹⁰ Saa'ol dhaaba manaa woliin Daawiti qassiisiisaaf eboo ifii darbate; Daawiti garuu duraa waan miliqeef eboon dhaaba manaatitti sikkante. Daawitille galgala san baqatee miliqe.

¹¹ Saa'ol mana Daawitii marsanee ganama akka isa ijjeesanuuf namoota erge; haati manaa ta Daawitii Mikaal ammoo, «Lubbuu teeti hamburatiisaaf edana yoo hin baqatin, boru hin ijjeefanta» jettee itti hinte.

¹² Maarre Mikaal karaa fodda'aatiin Daawiti gad buuttee, innille baqatee miliqe.

¹³ Achiin duuba Mikaal fakkii waaqa dharaa fuutee taqee irra irkittee, mataa duraan boraatii rifeensa re'e'ee boraafachiittee woyaa itti uffitte.

¹⁴ Daawiti akka qabanuuf Saa'ol namoota yennaa erge, Mikaal, «Inni dhibameera» jette.

¹⁵ Achiin duuba Saa'ol namooti dhaqanee akka Daawiti ilaalanuuf ergeen, «Ani isa akka ijjeesuuf taqee isaa woliin isa gara kiyya fida'a» jedhe.

¹⁶ Namooti ergamane sun mana yennaa seenane, fakkiin waaqa dharaa taqee irra irkattee, boraatii rifeensa re'e'ee boraafatteertiyyu.

¹⁷ Saa'ol Mikaaaliin, «Ati maaf na soddee diinni kiyya miliqee akka deemu goote?» jedhe.

Mikaalille, «Isattuu, «Yoo ati akka ani miliqu na hin qarqaarin ani si ijjeesa» naan jedhe» jettee deebitte.

¹⁸ Daawiti baqatee bayee Saamu'el bira gara Raama'aa dhagee waan Saa'ol isa irratti huje mara isatti hime. Achiin duuba Saamu'elii fi Daawiti Naayot dhaqanee achi le'ane.

¹⁹ «Kunoo, Daawiti biyya Raama'aa, Naayot keessa jira» jedhanee Saa'olitti himane.

²⁰ Maarre inni Daawiti akka qabanuuf namoota erge; te'uu malee isaan korri raagotaa tokko raaga dubbatanuun, Saamu'el isaan qajeelchuun yennaa dhaggane, Ayyaanni Waaqaa namoota Saa'ol erge san irratti bu'ee, isaanille raaga dubbatane.

²¹ Waan kana Saa'olitti yennaa himane, inni namoota dhibii erge; isaanille raaga dubbatane. Saa'ol ammalle yennaa sadeesso'oo namoota erge; isaanille raaga dubbatane.

²² Achiin duuba inni ifumaaf gara biyya Raama'aa dhagee, baleessa bisaanii guddicha Seeku keessa jiru bira yennaa geye, «Saamu'elii fi Daawiti eessa jiran?» jedhee gaafate. Nami tokko, «Isaan biyya Raama'aa Naayot keessa jiran» jedhe.

²³ Maarre Saa'ol achii gara biyya Raama'aa Naayot dhage. Ayyaanni Waaqaa isa irralle'etti bu'ee haga biyya Raama'aa Naayot gewutti raaga dubbataa deeme.

²⁴ Inni woyaa ifii ifi irraa baafatee Saamu'el duratti raaga dubbatee, halkan sanii fi guyyaa san mara qullaa irkate. Tanaaf kolbaan, «Saa'olille raagota keessaa tokko te'ee ree?» jette.

20

Yonaataan Daawiti Qarqaare

¹ Achiin duuba Daawiti Naayotii biyya Raama'aa keessaatii baqatee gara Yonaataanii dhagee, «Ani maan si godhe? Yakkaan tiyya maan? Ani maan isa yakkinaan abbaan keeti na ijjeesiisaaf barbaada?» jedhee gaafate.

² Yonaataan deebisee, «Tun hin teetu! Ati hin duutu. Kunoo abbaan kiyya waan guddoo yookiin waan diqqoolle teetu qara adoo natti hin himin waan tokkole hin huju; abbaan kiyya tana maaf na dhossa ree? Dubbiin akkasii moti!» jedhe.

³ Daawiti ammoo, «Akka ani si duratti fudhatama dhaggadhe abbaan keeti hin beeka; inni gadhaa ifii keessatti, «Yonaataan akka hin gaddine dubbii tana hin beekin» jedheera; dhugaa Mootii Waan Maraa ka jiraataa te'eetii fi lubbuu teeti jiraattu'uun kakadhaa, ani du'iisaaf dhikaadheera» jedhee kakate.

⁴ Achiin duuba Yonaataan Daawitiin, «Waan ati jettu mara ani si'iif hin godha» jedhe.

⁵ Maarre Daawiti Yonaataaniin, «Kunoo, boru jila baatii ji'aa waan teeteef, ani silaa mooticha woliin irbaata nyaatiisa qabaayyu; ammoo haga ittaan galgalaatitti diida keessatti akka dhokadhu naaf eeyyami.

⁶ Abbaan keeti yoo na barbaade, «Fira isaa maraaf ciincaan wogga'aa waan dhikaatuuf, Daawiti gara qachaa ifii Betlehem dhaqiisaaf guddoo na gaafateera» jedhii itti himi.

⁷ Innille, «Dansa'a!» yoo jedhe, ana tajaajilaa keetiif nageenni hin te'a; inni yoo aare ammoo akka inni hantuu na irratti yaadate beeki.

⁸ Tanaaf ati Mootii Waan Maraa duratti ana tajaajilaa keeti woliin gondo-roo waan gondooratteef, waan dansaa naaf godhi. Ani yakkaa yoo qabaadhe ammoo atinuu na ijjeesi malee maaf gara abbaa keetii na geessita ree?» jedhe.

⁹ Yonaataanille, «Tun hin teetu! Abbaan kiyya hantuu akka si irratti yaadate adoo beekke jiraadhee, ani sitti hin himuuyyuu ree?» jedhe.

¹⁰ Achiin duuba Daawiti Yonaataaniin, «Abbaan keeti aari'iin yoo deebii sii kenne, eentu natti hima?» jedhe.

¹¹ Yonaataanille Daawitiin, «Koy, gara diidaa gad baanaa» jedhee, isaan lamaanuu gara diidaa gad bayane.

¹² Achiin duuba Yonaataan Daawitiin, «Mootiin Waan Maraa Waaqi Is-
raa'elii dhugaa bayaa te'uu ti; boru haga yennaa tanaa abbaa kiyya qorqoree ittaan sitti ergee, yoo inni yaada dansaa si'iif qabaate sitti hin beessisa.

¹³ Garuu abbaan kiyya hantuu si irratti yaadateeruun, ani tana sitti himee akka ati nageyaan deentu yoo hin godhin Mootiin Waan Maraa na ijjeesuu ti! Mootiin Waan Maraa akkuma abbaa kiyya woliin jiraate si wolille'een jiraatuu ti.

¹⁴ Atille haga ani lubbu'uun jiru akka ani hin duuneef jaalala bara baraa ka Mootii Waan Maraa naaf mudhisi.

¹⁵ Mootiin Waan Maraa diinota Daawitii mara lafa irraa yennaa balleesselle jaalala bara baraa ka maatii tiyyaaf qaddu hin lakkisin» jedhe.

¹⁶ Maarre Yonaataan, «Diinota Daawitii irratti Mootiin Waan Maraa muraa kennuu ti» jedhee sanyii Daawitii woliin gondo-roo godhate.

¹⁷ Yonaataan akka ifi jaalatu Daawiti waan jaalatuuf, Daawiti ammalle akka isaaf kakatu godhe.

¹⁸ Achiin duuba Yonaataan Daawitiin, «Boru jila baatii ji'aa ti; barcumaan keeti duwwaa waan te'uuf ati akka hin jirre hin beekkanta.

¹⁹ Ati ittaan galgala guyyaa rakkoon tun teete addee itti dhokatte ariifad-
huu dhaqqiitii dhakaa, «Ezel» jedhamu bira turi.

²⁰ Ani akka nama daaya woyyittii darbatuu, daaya sad gara cinaa dhaka'aa hin darbadha.

²¹ Achiin duuba ani, «Dhaqiitii daaya san fidi!» jedhee mucaa dargaggeessa tokko hin erga; ani mucaa dargageessa saniin, «Kunoo, daayi si'iin garana

jira, fuudhii fidi» yoo jedhe, dhugaa Mootii Waan Maraa ka jiraataa te'ee, nageya malee rakkoon takkaalle waan hin jirreef koy.

²² Garuu ani mucaa dargageessa saniin, «Kunoo arfiin daayaa si irraa fagoo jirti» yoo jedhe, akka ati deentu fedhii Mootii Waan Maraa waan te'eef, ati deemi.

²³ Waan anii fi ati woliin dubbanneefille Mootiin Waan Maraa wodhakkaa tiyyaa fi teetitti haga bara baraa dhugaa bayaa keenaa» jedhe.

²⁴ Maarre Daawiti diida keessa dhokate; jilti baatii ji'aa yennaa geette mootichi sagalee qophootte nyaatiisaaf tee'e.

²⁵ Mootichi akkuma qaraa cinaa dhaaba manaa tee'e; Yonaataan fuullee isaa, Abneerille cinaa Saa'ol tee'ane; barcumaan Daawitii ammoo duwwaa hafe.

²⁶ Saa'ol, «Daawiti woy te'eera. Inni qulqullu'uu moti; dhugumaan inni qulqullu'uu moti» jedhee waan herregeeruuf, guyyaa san waan tokkolle hin dubbanne.

²⁷ Jila baatii ji'aatiin duuba, guyyaa itti aanu, guyyaa lammeesso'oolle, barcumaan Daawitii duwwaa waan te'eef, Saa'ol ilma ifii Yonaataaniin, «Ilmi Iseyii kaleelle, adhalle maaf nyaata irratti hin dhaggamin?» jedhe.

²⁸ Yonaataanille deebisee, «Daawiti gara Betlihemii dhaqiisaaf guddoo na gaafateera.

²⁹ Inni, «Firri keenaa qachaa keessatti ciincaa waan dhikeessanuuf, akka ani achitti dhaggamu obboleessi kiyya na ajajeera; ani si duratti fudhatama yoo dhaggadhe, obboleeyyan tiyya dhaggiisaaf deema» jedhee guddoo na gaafateeraayyu; sababa kanaaf inni jila tana irratti adoo hin dhaggamin hafe» jedhe.

³⁰ Achiin duuba Saa'ol Yonaataanitti aaree bobe'ee, «Ati ilma dubartii dabaaletti finqiltu'uu, ati ifii fi hadhaa si deette salphisiisaaf, ilma Iseyii akka ati filatte ani hin beeku seetaa?

³¹ Ilmi Iseyii lafa irra haga lubbu'uun jiru, atii fi mootummaan teetille jabaattanee hin dhaabbatanu. Inni dhugumaan du'iisa waan qabuuf, nama itti ergiitii gara kiyya akka fidanu godhi!» jedhe.

³² Achiin duuba Yonaataan deebisee, abbaa ifii Saa'oliin, «Inni maaf ijjeefama? Inni maan godheera?» jedhee, abbaa ifii gaafate.

³³ Saa'ol ammoo Yonaataan ijjeesiisaaf eboo ifii itti darbate. Maarre Yonaataan abbaan isaa Daawiti ijjeesiisaaf akka murteeffate beeke.

³⁴ Yonaataan aarii guddoon nyaata irraa ka'e. Abbaan isaa Daawiti waan salphiseef, inni Daawitiif gaddee, sagalee jila baatii ji'aa ta guyyaa lammeesso'oo san hin nyaanne.

³⁵ Boruuyaa ganama Yonaataan mucaa dargageessa tokko fudhatee, Daawiti dhaggiisaaf gara addee Daawiti woliin woldeennaa qabate san dhagee,

³⁶ mucaa dargageessa saniin, «Me, figiitii daaya ani darbadhu kana barbaadi» jedhe; akkuma mucaan figeen, daaya tokkocha isa irra dabarsee darbate.

³⁷ Yennaa mucaan addee daayi Yonaataan darbate bu'e san geye, Yonaataan isa waamee, «Daayi si irraa achi fagoo jiraa motii?» jedheen.

³⁸ Yonaataan, «Achi hin dhaabbatin! Ariifadhu!» jedhee itti iyye; mucaalle daaya san fuudhee gara gootaa ifii deebi'e.

³⁹ Yonaataanii fi Daawiti malee, marroo waan kanaa mucaan sun waan tokkolle hin beeku.

⁴⁰ Achiin duuba Yonaataan meya woraanaa muca'atti kennee, «Qabadhuu gara qacha'aa deebi'i» jedhe.

⁴¹ Mucaan deemeen duuba, Daawiti dhakaa biratti dhokateeru san gara kibbaatii ol ka'ee, yennaa sad fuulaan lafatti gad gombifamee sagade; achiin duuba wol sunqatanee bowane; Daawiti garuu Yonaataan caalaa bowe.

⁴² Achiin duuba Yonaataan Daawitiin, «Nuuti, «Si'ii fi ana, sanyii teetii fi sanyii tiyya wodhakka'atti Mootiin Waan Maraa haga bara baraa dhugaa bayaa keenaa» jennee maqaa isaatiin waan kakanneef, nageyaan deemi» jedhe. Achiin duuba Daawiti ka'ee deemee, Yonaataanille gara qacha'aa deebi'e.

21

Daawiti Saa'ol duraa Baqate

¹ Daawiti gara qachaa Nobii addee hayyichi Ahiimelek jiru deeme. Hayyichi Ahiimelekille hollataa Daawiti qophatiisaaf gad itti bayee, «Nami tokkolle si gula hin jiruu? Ati maaf qofuu deenta?» jedheen.

² Daawiti deebisee Ahiimelekii hayyichaan, «Mootichi, «Marroo waan ani si ergeetii fi si ajajee kana nami tokkolle hin beekin» jedhee na ajajeera; namoota kiyya woliin eessatti akka wol woldeennu isaanitti himeera.

³ Ati amma sagalee maan ifi biraa qadda? Xaltaa daabbo'oo shan yookiin waanuma dhaggame naaf kenni» jedhe.

⁴ Hayyichi ammoo deebisee Daawitiin, «Ani daabboo nami marti nyaatu hin qabu; namooti keeti dubartii bira geyiisa irraa yoo ifi eegatanee jiraatane ammoo daabboon woyyittiin hin jirti» jedhe.

⁵ Daawitille deebisee, «Akkuma qara baratame haga baaneen jalqannee nuuti dubartoota bira geyiisa irraa ifi eeganneerra; yennaa ergaa akka aadaa dhugeeffanna'aatitti woyyuu hin te'in ergannuuyyuu dubartoota bira geyiisa irraa ifi hin eegannaayyu; adha fa'a irra caalaa attam dubartoota bira geyiisa irraa ifi hin eeganne ree?» jedhe.

⁶ Maarre daabboo Waaqa dura dhikaattu ta Mootii Waan Maraa duraa fuudhanee daabboo o'itu'uun bakka buusane san malee ta dhibiin waan hin jirreef, hayyichi xaltaa daabboo woyyitti'ii san fuudhee Daawitiif kenne.

⁷ Gaafa san tajaajiltoota Saa'olii keessaa ajajaan tissitootaa, nami biyya Edoomii Do'eeg fuula Mootii Waan Maraa dura akka turu godhamee achi jiraayyu.

⁸ Daawiti, «Haajaan mootichaa ariifachiisaa waan te'eef, ani shallaagaa yookiin meya lolaa kiyya hin fidanne; ati shallaagaa yookiin eboo ifi biraa hin qadduu?» jedhee Ahiimelek gaafate.

⁹ Hayyichille deebisee, «Shallaagaan Goliyaadii filisxeemichaa, ka ati dhooqa Elaa keessatti iijeettee, kunoo wo'aa maramee woyaa hayyumma'aa ta qomaatiin duuba jira; isa san malee ka dhibiin as waan hin jirreef, yoo barbaadde isuma fudhadhu» jedhe.

Daawitille, «Shallaagaan akkasii waan hin jirreef, isuma san naaf kenni» jedhe.

Daawiti Gara Gaatii Baqate

¹⁰ Daawiti gaafuma san Saa'ol duraa baqatee, gara mootii Gaatii gara Akiishii dhaqe.

¹¹ Tajaajiltooti Akiishii ammoo isaan, «Mootiin biyyaa Daawiti isa kanaa motii? Ka worri sirbu, «Saa'ol kuma hedduu ijeese; Daawiti ammoo kuma kudhan hedduu ijeese» jedhanee sirbaneef isa kanaa motii?» jedhane.

¹² Daawitille dubbii tana gadha'atti qabatee, mootii Gaatii Akiishi guddoo sodaate.

¹³ Maarre inni isaan duratti akka nama qalbii tuqamee te'e; yennaa isa qabanelle balbala karraa irratti tattaraaraa, gorora ifii areeda irra yaasaa akka nama maraatee te'e.

¹⁴ Achiin duuba Akiishi tajaajiltoota ifitiin, «Kunoo, nami kun maraata'a; maaf gara kiyya fiddanne?

¹⁵ Ani maraataa dhabee jennaan, akka inni na duratti maraatuuf, nama kana gara kiyya fiddanee? Nami akkanaa mana kiyya dhufuu qabaa?» jedhe.

22

Daawiti Gara Goda Qachaa Adulaamii Biraatitti Baqate

¹ Daawiti qachaa Gaatiitii bayee gara goda qachaa «Adulaam» jedhamu bira jiruutitti baqate; obboleeyyan isaatii fi maatiin abbaa isaa marti tana dhage'anee achi gara isaa dhaqane.

² Worri rakkate marti, worri liqaan irra jiruu fi worri jireenni itti hammaateeru marti namooti gara dhibba afurii isa biratti wolitti qabamane; inni ajajaa isaanii te'e.

³ Daawiti achii ka'ee gara qachaa Miispha'aa ka biyya Mo'aabii keessaa dhagee, mootii Mo'aabiitiin, «Magganne'e, waan Waaqi naaf godhu haga beekutti, abbaan kiyyaa fi haati tiyya si bira turanuu ti» jedhe.

⁴ Maarre inni mootii Mo'aabii biratti isaan lakkisee, isaanille haga Daawiti kushee jadduu keessa dhokatee ture san mara mooticha san bira turane.

⁵ Achiin duuba Gaadiin raagichi Daawitiin, «Kushee jadduu tana keessa hin turin; ka'iitii gara biyya Yihuda'aa deemi!» jedhe. Maarre Daawiti achii ka'ee gara gongomaa Kaaretii dhage.

Saa'ol Nob Keessatti Hayyoota Ijjeese

⁶ Saa'ol gaafa tokko Daawitii fi namooti isa waliin jiranu akka mudhatane dhage'e. Saa'ol eboo ifii qabatee qachaa Giibe'aa keessa kooba irra muka «Tamariiski» jedhamu tokko jala tee'eeraayyu; tajaajiltoota isaa marti adaala isaa dhaabbataneeraniyyu.

⁷ Saa'ol tajaajiltoota ifii worra isa bira dhaabbateeruun, «Isin worri Beniyaaminii Dhage'a'a; ilmi Iseyii ficha'aa fi addee muka woyni'ii itti dhaabbatanu isin maraaf hin kennaa ree? Inni ajajjoota kumaatii fi ajajjoota dhibbaa isin mara hin godhataa ree?

⁸ Isin marti tanaaf na irratti mala dhoottanii ree? Ilmi kiyya ilma Iseyii waliin yennaa gondooraatu nami tokkolle natti hin hinne. Akkuma adhaa ilmi kiyya yennaa tajaajilaa kiyya na irratti kaasee akka inni riphee na eeggatu yennaa godhe, isin keessaa nami tokkolle marroo tiyyaaf quuqamee natti hin hinne» jedhe.

⁹ Achiin duuba nami qachaa Edoomii Do'eeg, ka tajaajiltoota Saa'olii waliin dhaabbateeru deebisee, «Ilmi Iseyii gara qachaa Nobii, ilma Ahiixubii Ahiimelek bira dhufuun dhageera;

¹⁰ Ahiimelekille marroo isaa Mootii Waan Maraa gaafatee, gala'aa fi shallaagaa Goliyaadii Filisxeemichaalle isaaf kenne» jedhe.

¹¹ Achiin duuba mootichi nama ergee, Ahiimelekii hayyicha ilma Ahiixubii, maatii abbaa ifii maraa fi worra Nob keessatti hayyoota te'ane mara waansisee, isaan marti gara mootichaa dhufane.

¹² Yennaa san Saa'ol, «Ee, ilma Ahiixubii amma dhage'i!» jedhe.

Innille deebisee, «Kunoo, ani as jira, gootaa kiyya!» jedheen.

¹³ Saa'olille isaan, «Akkuma adha godhu kana, ilmi Iseyii na irratti ka'ee akka na gaadu, daabbo'oo fi shallaagaa isaaf kennitee, marroo isaatiif Mootii Waan Maraa gaafatiisaan, isa woliin maaf na irratti mala dhootane?» jedhe.

¹⁴ Ahiimelek deebisee mootichaan, «Soddaan mootichaa, ajajaa eeddota teetii te'ee mana keeti keessatti ka ulfinna qabu, tajaajiltoota teeti mara keessaa akka Daawitii ka addatame eennu?»

¹⁵ Ani marroo isaatiif Mootii Waan Maraa gaafatiisa adha jalqabee ree? Waawwo'o! Ani tajaajilaan keeti marroo waan kanaa guddisee yookiin diqqeesseelle waan tokkole waan hin beenneef, tajaajilaa keetii yookiin maatii abbaa kiyyaa mara hin komatin» jedhe.

¹⁶ Mootichi ammoo, «Ahiimelek! Atii fi maatiin abbaa keetii martinuu dhugumaan hin duutan» jedhe.

¹⁷ Achiin duuba mootichi eeddota adaala isaa dhaabbataneeranuun, «Hayyooti Mootii Waan Maraa tun marti Daawitiif golanee, baqatiisa isaa adoo beekanuu natti himuu waan didaneef, itti garagala'atii isaan ijjeesa'a» jedhe. Tajaajiltoota mootichaa ammoo harka ifitiin hayyoota Mootii Waan Maraa ijjeesiisaaf hin barbaanne.

¹⁸ Achiin duuba mootichi Do'eegiin, «Ati hayyoota tana ijjeesi» jedhe. Maarre Do'eeg nami qachaa Edoomii, itti garagalee, guyyaa san hayyoota saddeettamii shan ta woyaa hayyumma'aa ta qomaa ta quncee talba'aa irraa hujante uffataneeranu ijjeese.

¹⁹ Qachaa hayyootaa Nobitti duulchisee, dhiiraa fi dubartii, ijoolle'ee fi annoolee, qotiyyoo, harre'ee fi hoolee mara shallaaga'aan ijjeese.

²⁰ Akaakoon Ahiixubii ilmi Ahiimelekii Abiyaataar ammoo miliqee bayee gara Daawitii baqatee,

²¹ Saa'ol hayyoota Mootii Waan Maraa akka ijjeese Daawititti hime.

²² Daawitille Abiyaataariin, «Ani nama qachaa Edoomii Do'eeg yennaa achitti dhagge, akka inni dhugumaan waan mara Saa'olitti himu gaafasuma beeke. Maarre ijjeefamiisa maatii abbaa keetii maraaf ka itti gaafatamu ana.

²³ Nami si ijjeesiisaaf barbaade, nama na ijjeesiisaaf barbaade waan te'eef, ati na woliin turi; hin sodaatin. Ati na woliin nageyaan leeta» jedhe.

23

Daawiti Qachaa Qeyilaa Badii Irraa Hambure

¹ «Kunoo, Filisxeemoti qachaa Qeyilaa lolanee, midhaan eeddumnee keessaa saamiisatti jiran» jedhane Daawititti himane.

² Tanaaf Daawiti, «Dhaqee Filisxeemota tana loluu?» jedhee Mootii Waan Maraa gaafate.

Mootii Waan Maraalle deebisee isaan, «Dhaqii Filisxeemota loliitii qachaa Qeyilaa isaan harkaa baasi» jedhe

³ Namooti Daawitii ammoo, «Kunoo, as Yihudaa keessattuu nuuti hin sodaanna; qachaa Qeyilaa dhandhee attam isaan loliisaaf dandeenna ree?» isaan jedhane.

⁴ Achiin duuba Daawiti ammalle Mootii Waan Maraa gaafate. Mootiin Waan Maraalle deebisee, «Ani Filisxeemota harka keetitti dabarsee waan kennuuf ka'iitii gara qachaa Qeyilaa dhaqi!» isaan jedhe.

⁵ Maarre Daawitii fi namooti isaa gara qachaa Qeyilaa dhaqanee, Filisxeemota lolanee horii isaanii booji'anee, isaan keessaa nama baca'a ijjeesane. Maarre Daawiti kolbaa qachaa Qeyilaa badii irraa hambure.

⁶ Ilmi Ahiimelekii Abiyaataar qachaa Qeyilaatitti gara Daawitii yennaa baqate, woyaa hayyumma'aa ta qomaa fudhatee dhaqe.

⁷ Daawiti gara qachaa Qeyilaa akka dhufe Saa'olitti himane. Saa'olille, «Daawiti qachaa karraa fi danqaraa karraa qabu seenee waan ifitti cufateef, Waaqi isa harka kiyyatti dabarsee kenneera» jedhe.

⁸ Maarre Saa'ol gara qachaa Qeyilaa dhagee Daawitii fi namoota isaa marsee qabiisaaf loltoota ifii mara waame.

⁹ Daawitille akka Saa'ol isa irratti hantuu yaadate beekke, Abiyaataarii hayyichaan, «Woyaa hayyumma'aa ta qomaa as naa fidi!» jedhe.

¹⁰ Achiin duuba Daawiti, «Ee Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii, Saa'ol gara qachaa Qeyilaa dhufee sababa kiyyaaf qachaa balleessiisaaf akka barbaadu dhugumaan ani tajaajilaan keeti dhage'eera.

¹¹ Namooti qachaa Qeyilaa harka isaatitti dabarsanee na hin kennanii? Akkuma ani dhage'e Saa'ol dhugumaan as hin dhufaa? Ee Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii ana tajaajilaa keetitti himi!» jedhe.

Mootii Waan Maraalle deebisee, «Inni hin dhufa» jedhe.

¹² Daawiti ammalle, «Namooti qachaa Qeyilaa anaa fi namoota kiyya Saa'olitti dabarsanee hin kennanii ree?» jedhee gaafate.

Mootii Waan Maraalle deebisee, «Eeti'i, isaan dabarsanee isin hin kennan» jedheen.

¹³ Maarre Daawitii fi namooti isaa ka gara dhibba jaa qachaa Qeyilaatii ka'anee addee dhaqiisaaf barbaadane mara dhaqane. Daawiti qachaa Qeyilaatii akka miliqe Saa'olitti yennaa himane, inni achi dhaqiisa lakkise.

¹⁴ Daawiti kushee hedduu jadduu goomolee keessaa ta koobota goomolee Ziifii keessa ture. Saa'ol guyyaa mara Daawiti barbaadaayyu; Waaqi ammoo Daawiti harka isaatitti dabarsee hin kennine.

¹⁵ Daawiti goomolee Ziifii, Horesh keessa adoo jiruu Saa'ol isa ijjeesiisaaf akka dhufe dhagge.

¹⁶ Ilmi Saa'olii Yonaataan addee Daawiti jiru gara Horeshii dhagee, maqaa Waaqaatiin isa jajjabeesse.

¹⁷ Yonaataan Daawitiin, «Hin sodaatin! Abbaan kiyya Saa'ol ijjumaa si hin dhaggu. Ati Israa'el irratti mootii hin teeta, anille sitti hin aana. Abbaan kiyya Saa'olinuu tana hin beeka» jedhe.

¹⁸ Isaan lamaanuu Mootii Waan Maraa duratti gondoorroo godhatane. Achiin duuba Yonaataan gara manaa ifii deemee, Daawiti ammoo Horesh keessatti hafe.

¹⁹ Namooti Ziifii gara Giibe'aa Saa'ol bira dhaqanee, «Kunoo, Daawiti kushee hedduu jadduu Horesh keessaa, kooba Haqilaa ta lafa goomolee irraa gara kibbaa jiranu, odduu teennatti dhokateeraa motii?

²⁰ Ee mooti'i, ati yennaa feete koy! Nuuti isa qannee dabarsinee sitti hin kennina» jedhaneen.

²¹ Saa'ol deebisee, «Isin marroo naaf yaadattaneef Mootiin Waan Maraa isin eebbisu.

²² Inni nama maltee akka te'e ani waan dhage'eeruuf, isin dhaqa'aa qorqora'aatii inni yennaa hedduu eessa akka turuu fi nama isa achitti isa dhaggelle adda baasa'aa beeka'a.

²³ Addee inni itti dhokatu mara hubadha'aatii oduu mirkana teete fida'aatii gara kiyya deebi'a'a. Achiin duuba ani isin woliin dhagee, inni biyya keessa yoo jiraate, ani lafa Yihuda'aa mara keessa isa hin barbaada» jedhe.

²⁴ Maarre namooti ka'anee adoo Saa'ol hin deemin dursanee Ziif dhaqane. Yennaa tana Daawitii fi namooti isaa biyya Arabaayii ta lafa goomole'ee irraa gara kibbaa jirtu goomolee Mo'aa keessa jiraniyyu.

²⁵ Saa'oliif fi namooti isaa Daawiti barbaadiisaaf dhagane. Daawitille tana yennaa dhage'e gara rassa'aa dhagee goomolee keessa Maa'on le'e. Saa'ol tana yennaa dhage'e, goomolee maa'onii keessa Daawiti ari'e.

²⁶ Saa'ol cinaa gaaraa gara tokkoon yennaa ari'u, Daawitii fi namooti isaalle gara kaaniin Saa'ol duraa baqatiisaaf ariifatan. Saa'olii fi loltooti isaa Daawitii fi namoota isaa marsanee qabiisaaf itti dhikaatanee adoo jiranuu,

²⁷ nami tokko gara Saa'olii ergamee dhufee, «Filisxeemoti lafa qabatiisatti waan jirtuuf, ariifadhuu koy!» jedhe.

²⁸ Achiin duuba Saa'ol Daawiti ari'iisa lakkisee Filisxeemota loliisaaf deeme. Tanaaf addeen sun, «Rassaa itti gargar deebi'ane» jedhanee moggaasane.

²⁹ Daawitille addee sanii ol bayee kushee jadduu, «En-Gedi» jedhantu keessa le'e.

24

Daawiti Lubbuu Saa'olii Hambure

¹ Saa'ol Filisxeemota ari'iisa irraa yennaa deebi'e, «Kunoo, Daawiti goomolee En-Gedii keessa jira» jedhanee itti himane.

² Maarre Saa'ol Israa'eloota mara keessaa namoota filamane kuma sad fudhatee, Daawitii fi namoota isaa barbaadiisaaf gara addee, «Rassaa re'ee diidaa» jedhamuu dhage.

³ Saa'ol gara gooree hoole'ee ta karaa qarqara jirtuu takka dhufee, achitti goda takka dhaggee faalowiisaaf keessa seene. Daawitii fi namooti isaalle goda san gara keessaatiin keessa tee'aneeraniyyu.

⁴ Namooti Daawitiille, «Guyyaan Mootiin Waan Maraa, «Diinota keeti waan feete akka gootuuf harka keetitti dabarsee hin kenna» jedhee dubbate kunoo adha!» isaan jedhane. Achiin duuba Daawiti dhokatee dhagee handaara woyaa Saa'olii irraa mure.

⁵ Daawiti handaara woyaa Saa'olii waan mureef gadde.

⁶ Inni namoota ifitiin, «Nama Mootiin Waan Maraa muude waan te'eef, gootaa kiyya nama Mootiin Waan Maraa muude irratti waan akkanaa godhiisaaf, harka kiyyaan waan hantuu isa irratti hujiisa irraa Mootiin Waan Maraa na eegu» jedhe.

⁷ Maarre Daawiti jecha kanaan namoota ifii xixee, akka isaan Saa'ol hin lolle dhoogge.

Saa'olille goda keessaa bayee deeme.

⁸ Isa duubaan Daawiti goda keessaa bayee, «Gootaa kiyya Mooticha!» jedhee Saa'ol waame. Yennaa Saa'ol ifi duuba ilaalu, Daawiti fuulaan lafatti gad gombifamee isaaf sagade.

⁹ Daawiti Saa'oliin, «Jecha namooti, «Daawiti si miidhiisaaf barbaada» jedhanu maaf caqatta?

¹⁰ Guyyaa adhaa Mootiin Waan Maraa goda keessatti harka kiyyatti dabarsee akka si kenne atinuu ila teetiin dhaggiteerta. Namooti gariin akka ani si ijjeesuuf na tirtirsanee, ani ammoo, «Inni nama Mootiin Waan Maraa muude waan te'eef, ani harka kiyyaan gootaa kiyya irratti waan hantuu hin huju» jedhee si'iif marare.

¹¹ Kunoo, Abbaa kiyya, handaara woyaa teetii harka kiyya irratti ilaali! Ani handaara woyaa teetii irraa mure malee si hin ijjeenne. Ani hammeenna yookiin yakkaa akka hin qanne beeki. Ati lubbuu tiyya balleessiisaaf barbaaddulle, ani si irratti cubbuu hin hunye.

¹² Mootiin Waan Maraa anaa fi si wodhakka'atti mura kennuu ti. Ati na irratti hammeenna waan hujjeef, Mootiin Waan Maraa haluu si naaf bayuu malee, harki kiyya waan hantuu si irratti hin huju.

¹³ Worri durii, «Hammeenni worra hamaa irraa dhufa» jedhan. Harki kiyya ammoo waan hantuu si irratti hin huju.

¹⁴ Mootiin Israa'elii eennu loliisaaf dhufe? Ati eennu ariita? Saree duute moo taffii ariita?

¹⁵ Mootiin Waan Maraa abbaa mura'aa te'ee anaa fi si wodhakka'atti mura kennuu ti. Inni haajaa kiyya ilaalee naaf falmatee, harka keeti jalaa na baasee, dhugaa tiyya naaf mudhisuu ti» jedhe.

¹⁶ Daawiti akkuma tana dubbatee fixateen, Saa'ol, «Ilma kiyya Daawiti, tun goonquma teetii?» jedhee gaafatee goonqoo ifii ol-qabatee bowe.

¹⁷ Inni Daawitiin, «Ani waan hantuu si irratti hunyaan ati ammoo waan dansaa naaf waan gooteef, ati na caalaa balcha'a!

¹⁸ Ati attam waan dansaa akka naaf goote adha natti mudhitteerta; Mootiin Waan Maraa harka keetitti dabarsee na kenneeruun, ati ammoo na hin ijjeenne.

¹⁹ Nami diina ifii yennaa dhagge, akka inni nageyaan deemu hin lakkisaa ree? Maarre waan dansaa adha ati naaf gooteef, Mootiin Waan Maraa waan dansaa si'iif godhu.

²⁰ Kunoo, ati dhugumaan mootii akka teetuu fi mootummaan Israa'elii harka keetitti jabaattee akka dhaabbattu ani hin beeka.

²¹ Ati naan duuba sanyii tiyya akka hin balleessine, maqaa kiyyalle maatii abbaa kiyyaa keessaa haxoottee akka hin balleessine amma maqaa Mootii Waan Maraatiin naaf kakadhu» jedhe.

²² Maarre Daawiti tana Saa'oliif kakate. Achiin duuba Saa'ol gara mana ifii deeme; Daawitii fi namooti isaa ammoo gara kushee jadduu ifii deemane.

25

Du'a Saamu'elii

¹ Saamu'el du'e. Israa'elooti marti wolitti qabamanee bowanee, mana isaa ka Raamaa keessa jiru keessatti isa awwaalane.

Achiin duuba Daawiti ka'ee gara goomolee Phaaraanii gad dhage.

² Biyya Maa'onii qachaa Qarmelosii keessa namichi dureessi karra gud-doo qabu tokko jiraayyu. Inni hoolota kuma sadii fi re'oota kuma tokko qabaayyu. Inni Qarmelos keessatti rifeensa hoolota irraa quxataayyu.

³ Maqaan isaa Naabaal; maqaan haadha manaa isaalle Abigaayil. Isiin dubartii qalbittii shaggitti'i; abbaan manaa isi'ii ammoo nama gadhi-laafummaa hin qanne ka waan hantuu huju; inni sanyii Kaalebii ti.

⁴ Daawiti goomolee keessa adoo jiruu, Naabaal hoolee ifii irraa rifeensa quxatiisatti akka jiru dhage'e.

⁵ Maarre Daawiti dargaggoota kudhan ergee, «Gara Qarmelosii Naabaal bira dhaqa'aatii maqaa kiyyaan nageya isa fuudha'a.

⁶ «Bara dheeraa le'i! Nageenni si'iif te'u! Nageenni mana keetii fi waan ati qaddu maraaf te'u!

⁷ Ati rifeensa hoolota teetii akka quxiisatti jirtu dhage'eera; tissitooti teeti yennaa nu waliin jiranu, nuuti isaan hin miine; isaan bara Qarmelos keessa jiranu mara wonni tokkolle isaan duraan hin banne.

⁸ Tajaajiltoota teeti gaafadhu, isaan sitti hin himan. Tanaaf nuuti guyyaa jilaa waan dhunneef, dargaggooti tiyya tun si duratti fudhatama dhaggatuu ti. Maganne'e tajaajiltoota teetii fi ilma keeti Daawitiif waanuma qaddu kenni» jedha'aan» jedhe.

⁹ Dargaggooti Daawitii yennaa achi geyane, maqaa Daawitiitiin ergaa tana Naabaalitti himanee, deebii eeggatane

¹⁰ Naabaalille deebisee tajaajiltoota Daawitiitiin, «Daawitiin kun eennu inni? Ilmi Iseyii kun eennu inni? Bara kana tajaajiltooti bacaan goottota ifii jalaa badiisatti jiran.

¹¹ Ani daabbo'oo fi bisaan, foon worra rifeensa hoolee tiyya irraa qux-anuuf qopheesse, namoota addee isaan dhufaneen hin beenneef maaf kenna ree?» jedhe.

¹² Maarre dargaggooti Daawitii duubatti deebi'anee waan Naabaal jedhe mara Daawititti himane.

¹³ Daawiti dargaggoota ifitiin, «Isin martinuu shallaagaa keessan hid-hadha'a» jedhe. Maarre isaan martinuu shallaagaa ifii hidhatane. Daawitille shallaagaa ifii hidhate. Namooti gara dhibba afurii Daawiti woliin ol bayanee, namooti gara dhibba lamaa meya eegiisaaf hafane.

¹⁴ Dargaggoota san keessaa tokkochi Abigaayil, haadha manaa Naabaalitiin, «Daawiti goomolee keessaa namoota ergee, gootaa keenna nageya gaafateeraayyu; goottaan keenna ammoo isaan arrasse.

¹⁵ Silaa namooti kun nu'uuf worra dansa'a; isaan nu hin miine; bara isaan woliin diida keessa jirru mara wonni tokkolle nu duraa hin banne.

¹⁶ Bara nuuti hoolota teenna tiffataa isaan woliin turre mara halkanii fi guyyaa isaan adaala keennatti akka dalleyaa nu'uuf te'ane.

¹⁷ Tanaaf amma gootaa keennaa fi maatii isaa mara irratti miidhaan dhufiisatti waan jirtuuf, ati tana beekiitii waan godhiisaaf malte godhi. Inni nama yabaabulaa waan te'eef, nami tokkolle isatti dubbatiisa hin dande'u» jedhe.

¹⁸ Abigaayil ariiti'iin daabboo xaltaa dhibba lama, daadhii woyni'ii qalqalluu lama, hoolota qalantee qopheeffante shan, akum'ee midhaanii gara kiiloogiraama kudhanii torbaa, midhaan woyni'ii gogaa cum'aa dhibba tokkoo fi midhaan harru'uu gogaa xaltaa dhibba lama wolitti qaddee harreele'etti feete.

¹⁹ Achiin duuba tajaajiltoota ifitiin, «Ani isin gula hin dhufa; isin naan dura deema'a!» jette. Garuu abbaa manaa ifii Naabaalitti hin hinne.

²⁰ Isiin harree irra teetee gaaratti gollattee gad bu'iisatti adoo jirtuu, Daawitii fi namooti isaa gara isi'ii gad itti dhufane; isiille isaan dhaggite.

²¹ Daawitille, «Ani goomolee keessatti qabeenni namicha kanaa akka hin banne toluma isaaf eegee? Ani isa irraa waan tokkolle hin fudhanne. Inni ammoo waan dansaa ani isaaf huje waan hantuu naaf deebise.

²² Boru ganama waan isaa mara keessaa dhiira tokkolle yoo ani hambure, Waaqi na ijjeesuu ti» jedhe.

²³ Abigaayil yennaa Daawiti dhaggite ariiti'iin harree irraa gad baatee, Daawiti duratti fuulaan lafatti gad gombifante.

²⁴ Miila isaatitti jiddee, «Ee, gootaa kiyya, yakkaan tun na irratti teetuu ti; maganne'e, ani tajaajiltuun teeti sitti himadha, waan ani tajaajiltuun teeti sitti himadhu naaf dhage'i!

²⁵ Ee gootaa kiyya, Naabaalii yabaabulaa san woyitti hin laakkowin; maqaan isaatuu, «Gowwaa» jechu'u; inni akkuma maqaa ifiituu jira. Gowwu-maan isuma woliin turte. Ani tajaajiltuun teeti ammoo dargaggoota goottaan kiyya erge san hin dhaggine.

²⁶ Dhugaa Mootii Waan Maraa ka jiraataa te'eetii fi lubbuu teeti jiraattu'uun kakadha, ati dhiiga dhangalaattee haluu akka hin baaneef Mootiin Waan Maraa si eegeera; diinoti keetii fi worri si gootaa kiyya miidhuu barbaadu marti akka Naabaal te'e te'anuu ti.

²⁷ Kennansi ani tajaajiltuun teeti si gootaa kiyyaaf fide kun dargaggoota si gootaa kiyya hordofatiisatti jiranuuf kennamuu ti.

²⁸ Sababa ati goottaan kiyya lola Mootii Waan Maraa loliisatti jirtuuf, Mootiin Waan Maraa mootummaa sanyii teeti hin jabeessa; ati maganne'e yakkaa ana tajaajiltuu teetii naaf araarami; bara jiruu teetii mara hammeenni si irratti hin dhaggamin.

²⁹ Eennulle si ijjeesiisaaf yennaa si ari'elle, lubbuun gootaa kiyyaa subba Mootii Waan Maraa ka Waaqa keetii keessatti nageyaan hin eeganti; lubbuu diinota keetii ammoo akka dhakaa looyyaa keessaa hin qolaansan.

³⁰ Mootiin Waan Maraa waadaa si gootaa kiyyaaf gale, waan dansaa mara si'iif godhee Israa'el irralle'etti yennaa si mootii godhe,

³¹ dhiigi ati sababa malee dhangalaatte yookiin harka keetiin wonni ati haluu baate waan hin jirreef, si gootaa kiyya wonni ati itti gadditu yookiin wonni ati ifi gaabbitu tokkolle hin jiraattu. Mootiin Waan Maraa waan dansaa si'iif yennaa godhe, maganne'e, ana tajaajiltuu teeti qaabadhu» jette.

³² Daawitille Abigaayiliin, «Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii ka adha gara kiyya si erge leellifamuu ti!

³³ Akka ani dhiiga hin dhangalaannee fi harka kiyyaan akka ani haluu hin baane ka na eege yaad keeti dansaan sun eebbifamuu ti; atille eebbifami.

³⁴ Adoo ati ariifattee na bira dhufuu dhabaattee, dhugaa Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii ka jiraataa te'ee, ka akka ani si hin miine godhee, haga ganamatti namoota Naabaalii keessaa dhiira ka te'e tokkolle hin hafu-uyyu» jedhe.

³⁵ Achiin duuba Daawiti waan isiin isaaf fidde harka isi'ii irraa fudhatee, «Kunoo, ani dubbii teeti dhage'eera; waan ati na kadhattelle si'iif hin kenna. Nageyaan gara mana keetii deemi!» jedheen.

³⁶ Abigaayil gara Naabaalii yennaa deebite, inni jila akka jila mana mootichaa mana ifii keessatti jilifatee guddoo machowee gammadiisatti jiraayyu. Maarre isiin haga latti bariitutti waan tokkolle isatti hin hinne.

³⁷ Achiin duuba ganama Naabaal machii yennaa balleeffate, Abigaayil haati manaa isaa waan kana mara isatti hintee jennaan, onneen isaa naasu'uun dhowantee inni akka dhaka'aa te'e.

³⁸ Gara guyyaa kudhaniitiin duuba, Mootiin Waan Maraa Naabaal irratti balaa buusee, innille du'e.

³⁹ Daawiti akka Naabaal du'e yennaa dhage'e, «Naabaalii na arrasse ka haluu naaf baye, ana tajaajilaa ifille waan hantuu godhiisa irraa ka na eege, Mootiin Waan Maraa leellifamuu ti. Inni waan hantuu Naabaal huje san mataa isaatitti deebiseera» jedhe.

Achiin duuba Daawiti Abigaayil fuudhiisaaf itti ergate.

⁴⁰ Tajaajiltooti isaa gara Qarmelosii dhaxxee Abigaayiliin, «Daawiti si fuudhiisaaf barbaadee gara keeti nu ergeera» jette.

⁴¹ Abigaayil kaatee fuulaan lafatti gad gombifantee, «Kunoo, ani garbittiin teeti si tajaajiliisaaf, tajaajiltoota gootaa kiyyaalle miila dhiqisaaf qophoweera» jette.

⁴² Abigaayil ariiti'in kaatee harree irra teettee, dubartoota dargaggeeyyii tajaajiltoota ifii shan fudhattee, namoota Daawiti ergate woliin deentee isa heerumte.

⁴³ Daawiti dubartittii biyya Yizre'elii Ahiino'aamille fuudhee isaan lamaanuu haadha manaa isaa te'ane.

⁴⁴ Saa'ol ammoo haadha manaa ta Daawitii intala ifii Mikaal isa jalaa baasee, nama qachaa Galiimii, ilma Laa'iishii Phalaati'el heerumsiise.

26

Daawiti Ammalle Lubbuu Saa'ol Hambure

¹ Namooti biyya Ziifii gara Saa'olii Giibe'aa dhaqanee, «Daawiti kooba Hakiila'aa irraa, fuullee lafa goomole'eetitti dhokateera motii?» jedhaneen.

² Maarre Saa'ol ka'ee namoota Israa'elii ka filamane kuma sad woliin Daawiti barbaadiisaaf gara goomolee Ziifii deeme.

³ Saa'ol kooba Hakiila'aa ta fuullee lafa goomole'ee cinaa kara'aa qubate. Daawiti ammoo goomolee keessa ture; inni akka Saa'ol haga achii isa hordofee dhufe yennaa dhagge,

⁴ worra dooyu ergee Saa'ol dhugumaan akka achi dhufeeru hubate.

⁵ Achiin duuba Daawiti ka'ee addee Saa'ol Qubateeru dhagee, Saa'olii fi ajajaan loltoota isaa ilmi Neerii Abneer addee rafaneeranu dhagge. Saa'ol odduu quttumaa rafee loltooti isaa adaala isaa qubataneeraniyyu.

⁶ Achiin duuba Daawiti Ahiimelekii nama biyya Heetotaatii fi ilma Zeruyaa obboleessa Yo'aabii Abiishaayiin, «Eentu na woliin gara addee qutuma Saa'olii gad dhaqa?» jedhee gaafate.

Abiishaayille, «Ani si woliin hin dhaqa» jedhe.

⁷ Maarre Daawitii fi Abiishaayi halkaniin addee loltooti jirtu dhaqane. Saa'ol eboo ifii mataa ifii duratti lafatti dongoratee odduu quttumaa rafee, Abneerii fi loltootille adaala isaa rafaneeraniyyu.

⁸ Achiin duuba Abiishaayi Daawitiin, «Waaqi adha diina keeti harka keetitti dabarsee kenneera; amma ani yennuma tokko eboo tiyyaan Saa'ol woraane lafa woliin wolitti hodha; ittille dabaluu hin barbaachisu» jedhe.

⁹ Daawiti ammoo Abiishaayiin, «Isa hin ijjeesin! Nama Mootiin Waan Maraa muude ijjeesee ka yakkaamessa hin te'in eennu?

¹⁰ Dhugaa Mootii Waan Maraa ka jiraataa te'ee, Mootiin Waan Maraatuu Saa'ol hin ijjeesa yookiin guyyaa ifii hin du'a yookiin duula dhagee achitti hin du'a.

¹¹ Nama Mootiin Waan Maraa muude ijjeesiisa irraa Mootiin Waan Maraa na eeguu ti! Ammoo eboo isaatii fi duloo isaa ta bisaanii ka mataa isaa dura jiranu san fuudhi hin ideennaa!» jedhe.

¹² Maarre Daawiti ebo'oo fi meya bisaanii ka mataa Saa'olii dura jiranu san fuudhee, isaan lamaanuu achii deemane. Mootiin Waan Maraa hirriiba hamaa isaanitti waan buuseef, isaan marti rafanee, nami tokkole dammaqee isaan hin dhaggine yookiin tana hin beenne.

¹³ Achiin duuba Daawiti gara gamaa achi bu'ee isaan irraa fagaatee qaccee koobaa irra dhaabbate; wodhakkaa isaanii fageenna gudda'atti jiraayyu.

¹⁴ Daawiti loltootaa fi ilma Neerii Abneer waamee, «Ee Abneer! Na jalaa hin owwaattuu?» jedheen;

Abneerille deebisee, «Ati ka mootii waantu kun eennu inni?» jedheen.

¹⁵ Daawitille, «Ati namaa motii ree? Israa'el keessa ka akka keetii eennu? Nami tokko gootaa keeti mooticha ijjeesiisaaf waan dhufeef, ati gootaa keeti mooticha maaf hin eenne ree?

¹⁶ Wonni ati hujje kun dansa'aa moti. Gootaa keessan ka Mootiin Waan Maraa muude waan hin eeginiif, dhugaa Mootii Waan Maraa ka jiraataa te'ee, atii fi namooti keeti du'uu qaddan. Eboon mootichaatii fi meyi bisaanii ka isaa ka mataa isaa dura jiranu meet ree? Me adaala keeti ilaali!» jedheen.

¹⁷ Saa'ol qoonqoo Daawitii beekke, «Ilma kiyya Daawiti, kun qoonqoo teetii?» jedheen.

Daawitille deebisee, «Ee mooticha, gootaa kiyya, eeti'i qoonqoo tiyya» jedheen.

¹⁸ Itti dabalee, «Ee gootaa kiyya, maaf ana tajaajilaa keeti ariita? Ani maan godhe? Ani maan yakke?

¹⁹ Amma goottaan kiyya qoonqoo tajaajilaa ifii caqasuu ti. Mootiin Waan Maraa na irratti si kaasee yoo jiraate, inni kennansa fudhatuu ti. Namooti tana godhane yoo jiraatane, akka ani qooda hin qabaanne, «Dhaqiitii waaqota dhibii waaqonfadhu» jedhane waan na ari'aneef, isaan Mootii Waan Maraa duratti abaaramanuu ti!

²⁰ Akka nama gaara irratti gogorrii adansuu, Mootiin Israa'elii ana nama taffii tokko barbaadiisaaf waan bayeef dhiigi kiyya Mootii Waan Maraa duraa fagaatee akka dhangala'u hin godhin!» jedhe.

²¹ Achiin duuba Saa'ol, «Ani cubbuu hujeera. Lubbuun tiyya adha si duratti ulfinna waan dhaggaateef, ani deebi'ee si hin miidhuutii, ilma kiyya Daawiti, deebi'i. Ani dhugumaan gowwumma'aan dokonkora guddaa hujeera» jedhe.

²² Daawitille deebisee, «Ee mooticha, kunoo, eboon teeti as jirti, dargagoota teeti keessaa tokko dhufee fuudhuu ti!

²³ «Mootiin Waan Maraa nama tokko tokkoofuu akka balchummaa isaatii fi addatamummaa isaatitti gatii isaaf kennuu ti. Mootiin Waan Maraa adha harka kiyyatti si dabarsee waan kenneef, ani ammoo nama Mootiin Waan Maraa muude hin miidhu.

²⁴ Akkuma adha lubbuun teeti na duratti ulfinna dhaggaate, lubbuun tiyyalle Mootii Waan Maraa duratti ulfinna dhaggatuu ti! Inni rakkinna mara keessalle'ee na baasuu ti» jedhe.

²⁵ Achiin duuba Saa'ol Daawitiin, «Ee ilma kiyya Daawiti, ati eebbifam! Ati waan hedduu hin goota; dhugumaan si'iif hin milkootti» jedhe.

Maarre Daawiti karaa ifii deemee, Saa'olille gara mana ifii deebi'e.

27

Daawiti Gara Filisxeemota Baqate

¹ Daawiti gadhaa ifii keessatti, «Guyyaa tokko harka Saa'oliititti du'iis kiyya waan hin oolleef, gara biyya Filisxeemotaa baqatiisa naa woyya. Achiin duuba Saa'ol biyya Israa'elii keessa na barbaadiisa hin lakkisa; anille harka isaa jalaa hin baya» jedhee herrege.

² Maarre Daawitii fi namooti dhibbi jaa ka isa woliin jiranu gara mootii Gaatii, ilma Maa'okii Akiishi bira dhaqane.

³ Daawitii fi namooti isaa tokko tokkoon isaanii maatii ifii woliin Gaati keessa Akiishi bira le'ane. Daawitille haadhotii manaa ifii lama Ahiino'aamii nama biyya Yizre'eliitii fi Abigaayil ta Naabaal irraa du'e nama biyya Qarmelosii woliin jiraayyu.

⁴ Daawiti gara Gaatii akka baqate Saa'olitti yennaa himane, inni deebi'ee isa hin barbaanne.

⁵ Achiin duuba Daawiti Akiishiin, «Ani tajaajilaan keeti maaf si woliin qachaa mootii'ii keessa le'a? Ani si duratti fudhatama yoo dhaggadhe, qachoota biyya kanaa keessaa tokko keessatti addeen ani le'u naaf kennantuu ti» jedhe.

⁶ Maarre gaafuma san Akiishi qachaa Siiqlaagii isaaf kenne. Qachaan Siiqlaagii guyyaa sanii jalqabee ka mootota Yihuda'aa te'e.

⁷ Daawiti biyya Filisxeemotaa keessa woggaa tokkoo fi ji'a afur le'e.

⁸ Daawitii fi namooti isaa dhaqanee, Geshuurota, Giirzotaa fi Amaale-qootatti duulane. Worri kun dur lafa Shuuriitii haga lafa Gibxi'ii keessa le'ane.

⁹ Daawiti yennaa isaan lole, dhiira yookiin dubartii tokkolle hin hamburre; hoolota, loon, harree, gaalotaa fi woyaa ammoo fudhatee gara Akiishii deebi'e.

¹⁰ Akiishi, «Adha eessa duultane?» jedhee yennaa gaafate, Daawiti, «Biyya Yihuda'aa ta gara kibbaa, biyya Yiraahimii'elii ta gara kibbaatii fi biyya Qenootaa ta gara kibbaatitti duulle» jedheen.

¹¹ Daawiti, «Namooti gara Gaatii dhufanee, «Daawiti waan akkasii hujeera» jedhane hin odeessan» jedhee waan herregeef, dhiira yookiin dubartii tokkolle hamburee gara Gaatii hin finne. Inni biyya Filisxeemotaa keessa haga le'e mara akkasuma godhaa ture.

¹² Akiishille gadhaa ifii keessatti, «Inni kolbaa ifituu kolbaan Israa'elii akka isa jibbitu waan godheef, haga bara baraa tajaajilaa kiyya hin te'a» jedhee waan herregeef, Daawiti addate.

28

Filisxeemoti Lolaaf Qophowane

¹ Bara san Filisxeemoti Israa'el loliisaaf loltoota ifii wolitti qabatane. Akiishi Daawitiin, «Atii fi namooti keetille na woliin akka duultanu beeki» jedhe.

² Daawitille, «Ani tajaajilaan keeti waan godhuu dande'u, atinuu dhaggu'uu jirta» jedheen.

Akiishi deebisee, «Guddoo dansa'a! Ani haga jiruu tiyyaa eeddicha kiyya si tolfadha» jedheen.

Saa'ol Worra Ekeraa Dubbisu Dubbisiifate

³ Saamu'el du'ee Israa'elooti marti isaaf boottee qachaa isaa Raamaa keessatti isa awwaalane. Bara san Saa'ol worra ekeraa dubbisuu fi worra moru biyya keessaa balleesseeraayyu.

⁴ Filisxeemoti wolitti qabamanee dhufanee adaala qachaa «Shuneem» jedhamutti qubatane. Saa'olille Israa'eloota mara wolitti qabatee gaara Giilbo'aa irra qubate.

⁵ Saa'ol loltoota Filisxeemotaa yennaa dhagge, guddoo sodaatee, gadhaan isaa sheephise.

⁶ Inni Mootii Waan Maraa yennaa gaafate, Mootiin Waan Maraa ammoo oojju'uun yookiin Uriimiin yookiin karaa raagotaalle'een deebii isaaf hin kennine.

⁷ Achiin duuba Saa'ol tajaajiltoota ifitiin, «Dhaqee isii akka gaafadhu, dubartii ekeraa dubbittu naa barbaada'a» jedhe.

Isaanille deebisane, «Kunoo, dubartiin ekeraa dubbittu takka Endoor keessa jirti» jedhaneen.

⁸ Maarre Saa'ol woyaa dhibii uffatee, ifi wollaalchisee, nama lama woliin halkan gara dubartittii sanii dhaqee, «Maganne'e, ekeraa dubbisiitii nama ani sitti himadhu naaf kaasi!» jedheen.

⁹ Dubartittiin ammoo deebittee, «Saa'ol worra ekeraa dubbisuu fi worra moru biyya keessaa akka balleesse atinuu hin beetta. Na ijjeesiisaaf, tiyyoo na dura maaf keetta ree?» jetteen.

¹⁰ Saa'ol, «Dhugaa Mootii Waan Maraa ka jiraataa te'ee, waan kanaan ati hin adabantu» jedhee maqaa Mootii Waan Maraatiin kakate.

¹¹ Achiin duuba dubartittiin, «Eennu si'iif kaasa?» jettee isa gaafatte.

Innille deebisee, «Saamu'el naaf kaasi!» jedheen.

¹² Dubartittiin yennaa Saamu'el dhaggite, qoonqoo guddoon iyyitee Saa'oliin, «Ati Saa'olii motii? Maaf na sodde?» jetteen.

¹³ Mootichi isi'iin, «Hin sodaatin! Maan dhaggiisatti jirta?» jedhe.

Dubartittiin deebittee Saa'oliin, «Ayyaanni tokko tokko lafa keessaa ol bayuun dhagga» jette.

¹⁴ Innille, «Inni maan fakkaata?» jedhee isii gaafate.

Isiin deebittee, «Jaarsi tokko geellaa uffatee ol bayiisatti jira» jetteen.

Achiin duuba Saa'ol akka inni Saamu'el te'e beekke ulfinna isaatiif fuulaan lafatti gad gombifame.

¹⁵ Achiin duuba Saamu'el, Saa'oliin, «Ati maaf du'a keessaa kaasiisaan na rakkitta?» jedhe;

Saa'ol deebisee, «Ani rakkinna guddaa keessa jira; Filisxeemoti na loliisatti jirti; Mootiin Waan Maraalle na lakkisee, raagotaan yookiin oojju'uun deebii naaf kennuu dideera. Tanaaf maan akka godhu akka natti hintuuf, si waammadhe» jedheen.

¹⁶ Saamu'elille, «Mootiin Waan Maraa si irraa fagaatee eega diina keeti sitti te'e, maaf na gaafattaa ree?

¹⁷ Mootiin Waan Maraa waan natti dubbate muummessiisatti jira. Inni mootummaa teeti si harkaa fuudhee, jaala keeti Daawitiif kenneera.

¹⁸ Ati Mootii Waan Maraatiif waan hin ajajaminiif, aarii isaa ta akka ibiddaa bobeettu sanille Amaaleqoota irratti ati waan hin muummessiniif, Mootiin Waan Maraa adha tana si irratti godheera.

¹⁹ Ammalle, Mootiin Waan Maraa si'ii fi Israa'elootalle harka Filisxeemotaatitti dabarsee hin kenna; boru atii fi ilmaan teeti na bira hin dhuttan; Mootiin Waan Maraa loltoota Israa'elille harka Filisxeemotaatitti dabarsee hin kenna» jedhe.

²⁰ Dubbii saamu'el dubbateen, Saa'ol sodaatee yennuma san akkuma hojjaa ifitiin lafatti jige. Guyyaa sanii fi halkan san mara waan tokkole hin nyaanneeyyu; tanaaf hunna dhabe.

²¹ Dubartittiin gara Saa'olii dhuttee, akka inni guddoo bararaqe yennaa dhaggite, «Kunoo, ani tajaajiltuun teeti si'iif ajajameera. Lubbuu tiyya harkatti qabadhee waan ati natti hinte muummesseera.

²² Amma maganne'e, waan ani tajaajiltuun teeti sitti himu dhage'i; nyaatee jabeenna dhaggattee akka deentuuf sagalee si'iif hin qopheessa» jetteen.

²³ Inni, «Hin nyaadhu» jedhee didate. Te'uu malee tajaajiltooti isaa dubartittii woliin guddoo waan isa kadhataneef, dubbii isaanii dhage'ee, lafaa ka'ee tagee irra tee'e.

²⁴ Dubartittiin jibicha cooma mana keessaa waan qadduuf, ariiti'iin qaltee, bullaa fuutee sukkuunttee daabboo uukoo hin qanne bilcheessite.

²⁵ Achiin duuba Saa'olii fi tajaajiltoota isaatiif dhikeessitee, isaanille nyaatane. Achiin duuba isaan halkanuma san ka'anee deemane.

29

Filisxeemoti Daawiti Mormatte

¹ Filisxeemoti loltoota ifii mara Afeqitti wolitti qabatane. Israa'elootille madda dhooqa Yizre'elii keessaa biratti qabatane.

² Bulchitooti Filisxeemotaa loltoota ifii garee dhibba dhibbaa fi kuma kumaan te'anee duulane; Daawitii fi namooti isaalle Akiishi woliin duuba isaaniitiin isaan gula duulane.

³ Ajajooti loltoota Filisxeemotaa, «Worri Ibrootaa kun maan asii hujan?» jedhane gaafatane.

Akiishi deebisee, «Kun Daawiti, tajaajilaa Saa'olii, ka mooticha Israa'eliitii motii? Inni na bira haga dhufee woggaa irra dabareera; anille guyyaa inni

natti galee jalqabee haga adhaatitti yakkaa tokkolle isa irratti hin dhaggine» jedheen.

⁴ Ajajjooti loltoota Filisxeemotaa ammoo Akiishitti aaranee, «Nama kana addee qara isaaf kennitetti deebisii ergi. Inni yennaa lolaa garagalee diina akka nutti hin teene, akka inni nu waliin duulu hin godhin. Inni mataa namoota kanaa kutee adoo hin geessin gootaa ifii waliin attam araaramuu dande'a ree?

⁵ Isaan geeraraa, «Saa'ol kuma hedduu ijeese; Daawitille kuma kudhan hedduu ijeese» jedhaa ka faarfatanee, Daawitii kanaa motii ree» jedhane.

⁶ Maarre Akiishi Daawiti waamee, «Dhugaa Mootii Waan Maraa ka jiraataa te'ee, ati nama qajeela'a. Guyyaa gara kiyaa dhutteen jalqabee haga adhaa yakkaa tokkolle si irratti waan hin dhagginiif, na waliin adoo duulteetii, ani hin gammada. Te'uu malee bulchitooti ammoo si hin addanne.

⁷ Ati deebi'ii nageyaan deemi; waan bulchitoota Filisxeemotaa hin gam-machiinne tokkolle hin godhin» jedheen.

⁸ Daawiti deebisee Akiishiin, «Ani ammoo maan godhe? Guyyaa ani gara keeti dhufeen jalqaddee haga adhaatitti ana tajaajilaa keeti irratti maan dhaggiteerta? Ani diinota gootaa kiyaa mootichaa maaf loluu dhaba ree?» jedhee gaafate.

⁹ Akiishi deebisee, «Ati na duratti akka ergamaa Waaqaa ka komii hin qanne akka teetee hin beeka. Te'uu malee ajajjooti loltoota Filisxeemotaa ammoo, «Inni nu waliin gara lolaa dhaquu hin qabu» jedhaneeran.

¹⁰ Ati tajaajiltoota gootaa keetii ta si waliin dhufane waliin boru gana-maan ka'a'aatii, akkuma bariiteen deema'a» jedheen.

¹¹ Maarre Daawitii fi namooti isaa gara lafa Filisxeemotaa deebi'iisaaf boruuyyaa ganamaan ka'ane. Filisxeemotille gara Yizre'elii ol bayane.

30

Daawiti Amaaleqoota Injifate

¹ Guyyaa sadeesso'oo Daawitii fi namooti isaa gara Siiqlaagii yennaa deebi'anu, Amaaleqooti gara kibba Kana'aaniitii* fi Siiqlaagitti duulane, Siiqlaag lolanee gubaneeranuun dhaggane.

² Dubartootaa fi namoota achi keessa jiranu diqqa'aa fi guddaa mara booji'ane. Isaan worra booji'ane san fudhatanee deemane malee isaan keessaa nama tokkolle hin ijeeenne.

³ Daawitii fi namooti isaa gara qachaa Siiqlaagii yennaa dhufane, qachaan ibiddaan gubatee, niitoti isaanii, ilmaanii fi durri isaanii booji'amaneeeranuun dhaggane.

⁴ Achiin duuba Daawitii fi namooti isaa, haga dadhabanutti qoonqoo ifii ol qabatanee bowane.

⁵ Niitoti Daawitii lamaanuu Yizre'elittiin Ahiino'aamii fi Abigaayil ta Naabaaliin Qarmelosichi irraa du'elle booji'amaneeeraniyyu.

⁶ Namooti marti ilmaanii fi durri isaanii waan booji'amanee, gaddanee aaranee, Daawiti dhaka'aan tumiisaaf waan mari'ataneef inni guddoo yaadaan rakkate. Garuu Daawiti Mootii Waan Maraa Waaqa ifitiin ifi jajjabeesse.

⁷ Achiin duuba Daawiti Abiyaataarii hayyicha, ilma Ahiimelekiitiin, «Woyaa hayyumma'aa ta qomaa naa fidi» jedhe. Abiyaataarille woyaa san isaaf fide.

* **30:1** Kibba Kana'aanii: Yaadannoo Dad. 12:9 irratti kenname ilaali.

⁸ Daawiti, «Garee loltootaa tana hordofuu? Ani isaan hin dhaqqabaa?» jedhee Mootii Waan Maraa gaafate.

Mootiin Waan Maraa deebisee, «Dhugumaan ati isaan dhaqqaddee boojulle waan deebifattuuf isaan hordofi!» jedheen.

⁹ Maarre Daawitii fi namooti isaa ka isa waliin jiranu dhibbi jaa gara laga Besoorii dhufanee, gariin achuma turane.

¹⁰ Namooti dhibbi lama ammoo guddoo waan dadhabaneef, laga Besoorii gamatti bu'uu waan hin dande'iniif, Daawiti namoota dhibba afur waliin loltoota san hordofe.

¹¹ Isaan diida keessatti nama biyya Gibxi'ii tokko dhagganee gara Daawitii fidane. Isaan bisaan unuu fi sagalee nyaatu isaaf kennane.

¹² Akkasuma baqaqa bixee midhaan harru'uutii fi midhaan woyni'ii gogaa cum'aa lama isaaf kennane. Inni guyyaa sadii fi halkan sad sagalee hin nyaanne; bisaanille hin unne; tanaaf nyaateen duuba bayyanate.

¹³ Daawitille, «Ati ka eennuuti? Eessaa dhutte?» jedhee isa gaafate;

Inni deebisee, «Ani dargaggeessa biyya Gibxi'ii, tajaajilaa Amaaleqicha tokkoo ti; ani guyyaa sadiin dura waan dhibameef, gootaa kiyya na lakkisee deeme.

¹⁴ Nuuti biyya Keretootaa ta gara kibbaa, kutaa biyya Yihuda'aa, biyya Kaalebii ta gara kibbaatitti duullee, Siiqlaagille ibiddaan gunneerra» jedheen.

¹⁵ Daawitille, «Gara garee loltoota sanii nu geessuu dandeettaa?» jedhee gaafate. Inni deebisee, «Ati akka na hin ijjeenne yookiin harka gootaa kiyyaatitti dabarsitee akka na hin kennine Waaqa duratti naaf kakadhu. Anille gara garee loltoota sanii si hin geessa» jedheen.

¹⁶ Inni yennaa gara garee loltootaa Daawiti geesse, isaan biyya Filisxeemotaatii fi Yihuda'aa keessaa waan bacaa waan saamaneef, addee maratti bittinnowanee, nyaataa, unaa, gammadane.

¹⁷ Daawiti galgala saniin jalqabee haga galgala guyyaa itti aanuutitti isaan lolee, dargaggoota dhibba afur worra gaala irra tee'ee baqate malee, isaan keessa nami tokkolle miliqee hin baane.

¹⁸ Daawiti waan Amaaleqooti fudhatte mara, niitota ifille lamaanuu deebifate.

¹⁹ Diqqaan yookiin Guddaan, ilmaan dhiiraa yookiin ijoolleen durraa, wonni isaan saamane fudhatane yookiin wonni dhibiin ta Amaaleqooti fudhatane tokkolle adoo hin hafin Daawiti waan mara deebisiise.

²⁰ Daawiti loon, hoole'ee fi re'ee mara deebifatee fudhatee, namooti isaa, «Kun boojuu Daawitii ti» jedhaa horii kana horii kaaniin dura oofane.

²¹ Achiin duuba Daawiti gara namoota dhibba lamaa worra guddoo dadhabee isa gula deemiisa dadhabanee, ka laga Besoorii biratti isa biraa hafanee deebi'ee dhaqe. Isaanille Daawitii fi namoota isa waliin jiranu qophatiisaaf bayane. Daawiti gara namoota sanii yennaa dhikaate nageya isaan fuudhe.

²² Namoota Daawiti gula deemanu keessaa, worri hama'aa fi worri woy hin baane tokko ammoo, «Isaan nu waliin waan hin duuliniif, tokko tokkoon isaanii dubartootaa fi ijoollee ifii fudhatanee deemanuutii malee waan nuuti boojinee fudhannee dhunne nu waliin hin qoodamanu» jedhane.

²³ Daawiti ammoo deebisee, «Waawwo'o, obboleeyyan tiyya! Ka nu eegee, garee diinota keennaalle harka kennatti dabarsee ka kenne Mootii Waan Maraa ti. Waan inni nu'uuf kenne kana akkana hin godhina'a!

²⁴ Waan isin jettanu kana eentu isiniif dhage'a? Qoodi worra lola dhaqeetii fi worra meya biratti hafee wol qixa. Isaan martinuu wol qixa qoodamanuu ti» jedhe.

²⁵ Daawiti guyyaa saniin jalqabee haga adhaa dubbii tana Israa'elootaaf seeraa fi seerata godhe.

²⁶ Daawiti gara Siiqlaagii yennaa dhufe, lansoota ifii jaarsolee Yihuda'aatiin, «Kunoo, kennansi kun waan diinota Mootii Waan Maraa irraa saamamee isiniif ergame» jedhe.

²⁷ Inni worra Bet'eliitiif, worra kibba Yihuda'aa ka Raamootiitiif, worra Yaatiir keessa jiranuuf,

²⁸ worra Aro'eriitiif, worra Siifmotiitiif, worra Eshtemo'aa keessa jiranuuf,

²⁹ worra Raakaaliitiif, worra qachoota Yiraahimii'elootaa keessa jiranuuf, worra qachoota Qenootaa keessa jiranuuf,

³⁰ worra Hormaatiif, worra Bor-Ashaaniitiif, worra Ataakiitiif,

³¹ worra Kebroon keessa jiranuuf, akkasuma worra addee Daawitii fi namooti isaa keessa deddeebi'e keessa jiranu maraaf erge.

31

Du'a Saa'oliitii Fi Du'a Ilmaan Isaa

¹ Bara san Filisxeemoti Israa'eloota lolane; Israa'elooti isaan duraa baqatane, nami bacaan lola Gaara Giilbo'aa irratti ijjeefamane.

² Filisxeemoti Saa'olii fi ilmaan isaa hordofanee ari'anee, ilmaan isaa Yonaataan, Abinaadaabii fi Malkiishuwaa ijjeesane.

³ Lolli Saa'ol irratti jabaatee, worri daayaan lolu dhaqqabane akka malee isa madeessane.

⁴ Saa'ol dargaggeessa meya isaa ka woraanaa ba'atu saniin, «Worri haqan-qabaa hin qabatin kun dhufee na ijjeesee akka na hin salphinne atinuu shallaagaa keeti buqqifadhuutii na ijjeesi!» jedhe. Dargaggeessichi isaa sun guddoo waan sodaateef isa hin ijeeenne. Maarre Saa'ol shallaagaa ifii buqqifatee irratti jige.

⁵ Dargaggeessichi meya isaa ka woraanaa isaaf ba'atu sun akka Saa'ol du'e yennaa dhagge, innille akkuma isaa shallaagaa ifii buqqifatee irratti jigee isa woliin du'e.

⁶ Saa'ol, ilmaan isaa sadiinuu, dargaggeessichi meya isaa ka woraanaa isaaf ba'atu fi namooti isaa martinuu guyyuma san wolumaan dhumatane.

⁷ Israa'elooti dhooqaan gamaa, laga Yordaanosii irraa karaa aduun baatu jiranu, loltooti Israa'elii akka baqatane, Saa'olii fi ilmaan isaalle akka dhumatane yennaa dhaggane, qachoota ifii lakkisane baqatane. Filisxeemotille dhufanee qachoota san qabatane.

⁸ Boruyyaa ganama worri Filisxeemotaa worra dhumatane san irraa meya mulqatiisaaf yennaa dhufane, Saa'olii fi ilmaan isaa sadiinuu gaara Giilbo'aa irratti du'aneeranuun dhaggane.

⁹ Isaan mataa Saa'olii irraa muranee, meya isaa ka lolaa irraa mulqatane, oduu gammadaa kolbaa isaaniitii fi galma waaqa dharaa ka isaaniititti akka himanuuf biyya Filisxeemotaa mara keessa ergantoota ergane.

¹⁰ Isaan meya woraanaa ka isaa galma waaqa dharaa ka Ashitaarotii keessa keyanee, reeffa isaa dalleya dhaka'aa ka Bet-Shaaniititti fannisane.

¹¹ Kolbaan Yaabesh-Giil'aad keessa leetu waan worri Filisxeemotaa Saa'ol irratti godhane yennaa dhage'ane,

¹² namooti isaanii goototi marti halkaniin gara Bet-Shaanii dhaqanee, reeffa Saa'oliitii fi reeffa ilmaan isaa dalleya dhaka'a ka Bet-Shaanii irraa gad buusane, gara Yaabeshii fidanee achitti isaan gubane.

¹³ Achiin duuba lafee isaanii fuudhanee Yaabesh keessatti muka «Tamari-iski» jedhamu tokko jalatti awwaalanee guyyaa torba laamane.

Kitaaba Saamu'elii Ka Lammeesso'oo Seensa

Kitaab Saamu'elii ka lammeesso'oo kitaaba Saamu'elii ka qaraatitti aanee, Daawiti duraan dursee gara kibbaatiin mootii Yihuda'aa (foora 1-4), duuba irra Israa'eloota gara kaabaa dabalatee kolbaa mara irratti mootii te'ee akka bulche dabarsii hintu (Foora 5-24). Kitaab kun Daawiti mootummaa ifii badhifatiisaa fi baallii ifii jabeeffatiisaaf, diinota ifii ka keessaatii fi ka alaa waliin attam akka wol lole miidhassee hima. Daawiti nama addii jadduu qabuu fi nama Waaqa jaalatu, kolbaa ifitiifille nama addatamummaa qabu akka te'e himameera. Akkasuma yennaa tokko tokko hujii gadhi-jabeennaa nama hujuu fi fedhii yaada ifii muummeffatiisaaf cubbuu guddoo akka huje himameera. Te'uu malee raagichi Mootii Waan Maraa Naataan gara isaa dhagee cubbuu isaa yennaa isatti beessise, inni cubbuu ifii faaci'atee adabbii Waaqi isatti erge fudhateera.

Jiruun Daawitiitii fi huijin inni huje kolbaa Israa'elii guddoo waan gam-machiitteef, bara hedduu Daawitiin duuba dhufe keessatti rakkinni yenna kolbaa Israa'elii dhaqqabu mara, mootii dhibii yennaa fedhanu, ilma Daawitii yookiin sanyii Daawitii ka te'ee fi nama akka Daawitii bulchu dhaggatiisaaf fedhaniyyu.

Haadhoo Dubbi'ii

Daawiti Yihudaa Irratti Mootii Te'e 1:1–4:12

Daawiti Israa'el Mara Irratti Mootii Te'e 5:1–24:25

Woggoota Jalqabaa 5:1–10:19

Daawitii Fi Baat-Sheebaa 11:1–12:25

Rakkinnaa Fi Gaargala 12:26–20:26

Woggoota Dhumaa 21:1–24:25

Daawiti Du'a Saa'olii Dhage'e

¹ Saa'ol du'een duuba, Daawiti Amaaleqoota injifatee deebi'ee, qachaa Siiqlaagii keessa guyyaa lama ture.

² Guyyaa sadeesso'oo nami gaddaan woyaa ifii tarsaasee bukuu mata'atti naqateeru tokko gara Daawitii dhufee, ulfinna Daawitiitiif lafatti gad gomb-ifame.

³ Daawitille, «Eessaa dhutte?» jedhee isa gaafate.

Innille deebisee, «Ani quttuma loltoota Israa'elootaa keessaa baqadhee dhufe» jedheen.

⁴ Daawitille, «Maanti maan te'e ree?» jedhee gaafate.

Innille, «Namooti lola keessaa baqataneeran; nami bacaan du'eera; Saa'olii fi ilmi isaa Yonaataanille du'aneeran» jedhe.

⁵ Achiin duuba Daawiti, «Saa'olii fi ilmi isaa Yonaataan akka du'ane ati attam beette?» jedhee dargaggeessa oduu isatti hime san gaafate.

⁶ Dargaggeessi oduu tana isatti hime sun deebisee, «Akka tasaa, ani gaara Giilbo'aa gubbaa ol bayeeraayyu; achitti Saa'ol eboo ifiititti ciqilfatee adoo jiruu, garreettaan fardaan harkifamuu fi abbootiin fardaa ka Filisxeemotaa reebanee isa dhaqqabane.

⁷ Saa'ol yennaa garagalee na dhagge na waame; anille owwaadhe.

⁸ Inni, «Ati eennu?» jedhee na gaafate; anille, «Ani nama gosa Amaale-qootaa ti» jedhee deebise.

⁹ Achiin duuba inni anaan, «Ani farra guddoo keessa galee, du'uu geyeera; lubbuun tiyya ammoo na keessaa hin baane, koyii na ijjeesi» jedhe.

¹⁰ Maarre inni jigeen duuba akka hin hanne ani waan beekeef isa ijjeese; kallacha mataa isaa irra jiruu fi irmuura harka isaa irraa baasee kunoo si goottaa kiyyaaf fideera» jedhe.

¹¹ Yennaa tana dhage'ane Daawitii fi namooti isa woliin jiranu marti gaddanee woyaa ifii tarsaasane.

¹² Isaan lola keessatti shallaaga'aan waan ijjeefamaneef, Saa'olii fi ilma isaa Yonaataaniif, loltoota Mootii Waan Maraatii fi Israa'eloota maraaf gaddanee bowanee haga galgalaatitti laamane.

¹³ Daawiti dargaggeessa oduu tana isatti himeen, «Ati eessaa dhutte?» jedhee gaafate.

Innille, «Ani ilma alaga'aa ta nama gosa Amaaleqootaa ti» jedhee deebise.

¹⁴ Daawitille, «Ati nama Mootiin Waan Maraa muude ijjeesiisaaf maaf hin sodaanne ree?» jedhee isa gaafate.

¹⁵ Achiin duuba Daawiti namoota ifii keessaa nama tokko waamee, «Dhaqitii, isa dhowii ijjeesi!» jedhe; innille isa dhowee ijjeese.

¹⁶ Daawitille isaan, «Ati, «Ani nama Mootiin Waan Maraa muude ijjeeseera» jettee afaanuma keetiin dhugaa waan baateef, du'a keetiif si'umatti itti gaafatama» jedhe.

Daawiti Marroo Saa'oliitii Fi Marroo Yonaataanii Faaruu Gaddaa Faarse

¹⁷ Daawiti marroo Saa'oliitii fi marroo ilma isaa Yonaataanii gaddee faarse.

¹⁸ Faaruu gaddaa ta daayaa tana kolbaa Yihuda'aa akka barsiisanu ajaje; faaruun gaddaa tun kitaaba, «Yaashaar» jedhamu keessatti barreeffanteerti.

¹⁹ Faaruun Gaddaa tun, «Ee, Israa'el ulfinni keeti

koobota teeti dhedheertuu irratti jige;

loltooti teeti janni attam attam du'ane?

²⁰ Tana qachaa Gaatii keessatti hin odeessina'a;

karaa qachaa Ashiqalonii keessatti hin lallabina'a.

Durri Filisxeemotaa hin gammadin;

durri worra haqanqabaa hin qabatanii hin firinxiixin.

²¹ «Ee gaarota Giilbo'aa

wonteen worra jajjabaa waan battootteef,

wonteen Saa'olii

haganaa achi zayiti'iin waan hin haxowanneef,

fixeensi yookiin bokkeenni isin irratti hin bu'in;

fichaan keessan midhaan hin baasin.

²² Dhiiga worra du'ee irraa,

cooma worra jajjabaa irraa,

daayi Yonaataanii hin deebine;

shallaagaan Saa'oliille tola hin deebine.

²³ «Saa'olii fi Yonaataan yennaa lubbu'uun jiranu,

worra jaalatamee fi worra jajame;

yennaa du'anulle gargar hin baane.

Isaan risaa caalaa worra ariifatu,

neenqa caalaa worra jajjaba.

²⁴ «Ee isin dubartoota Israa'elii

nama woyaa liilana diima'aa isinitti uffisee,

irmuura harka keessanitti keye,

ka woyaa teessan seesa worqi'iitiin seeseef,

Saa'oliif bowa'a.

25 «Worri jajjabi lola keessatti
attam akkana du'ane
Yonaataan kooba dheertuu teeti irratti du'eera.

26 «Ee obboleessa kiyya Yonaataan,
ani si'iif gadda.
Ati naaf jaalatama'a;
jaalalli ati naaf qaddu ka maade'ee ti;
jaalala dhiirti dubartootaaf qaddu caala.

27 «Worri jajjabi attam attam du'ane?
Mey isaanii ka woraanaa
attam attam bade?» ta jettu.

2

Daawiti Mootii Yihuda'aa Te'e

¹ Kanaan duuba Daawiti, «Qachoota Yihuda'aa keessaa gara qachaa tokkoo ol bayuu?» jedhee Mootii Waan Maraa gaafate.

Mootiin Waan Maraa deebisee, «Eeti'i ol bayi» jedhe.

Daawitille, «Gara qachaa kamii deema?» jedhee gaafate.

Mootiin Waan Maraa deebisee, «Gara qachaa Kebroonii deemi» jedhe.

² Maarre Daawiti niitota ifii lama Ahiino'aamii intala nama qachaa Yizre'eliitii fi Abigaayii ka Naabaal nami biyya Qarmelosii irraa du'e woliin gara qachaa Kebroonii ol baye.

³ Daawiti namoota isa woliin jiranu maatii isaanii woliin fuudhee deemee, isaanille qachaa Kebroonii keessa le'ane.

⁴ Achiin duuba namooti Yihuda'aa gara Kebroonii dhufanee, achitti Daawiti sanyii Yihuda'aa irratti mootii akka te'u muudane.

Worri Saa'ol awwaalle namoota qachaa Yaabesh-Giil'aadii akka te'ane Daawititti yennaa himane,

⁵ Daawiti namoota qachaa Yaabesh-Giil'aadiititti namoota ergee, «Gootaa keessan Saa'ol awwaaliisaan arjummaa waan mudhittaneef, Mootiin Waan Maraa isin eebbisu;

⁶ Ammalle Mootiin Waan Maraa jaalala ifii ka bara baraatii fi addatamummaa ifii isinitti mudhisu! Isin tana waan gootaneef, anille akkasuma waan dansaa isiniif hin godha.

⁷ Gootaan keessan Saa'ol waan du'eef, sanyiin Yihuda'aa na muuddee mootii ifii na godhatteerti; tanaaf jabaadha'a! Jajjabaadha'a!» jedhe.

Lola Mootummaa Daawitiitii fi Mootummaa Saa'olii Wodhakka'atti Te'e

⁸ Yennuma san ajajaan loltoota Saa'olii ilmi Neerii Abneer ilma Saa'olii Ish-Bosheet gara Mahanaayimii geessee,

⁹ lafa Giil'aadii, lafa Asheerii, lafa Yizre'elii, lafa Efreemiitii fi lafa Beniyaaminii irratti, Israa'el mara irralle'etti isa mootii godhe.

¹⁰ Ilmi Saa'olii Ish-Bosheet Israa'el irratti yennaa mootii te'e nama woggaa afurtamaa ti; inni woggaa lama bulche.

Kolbaan Yihuda'aa ammoo Daawiti hordofane.

¹¹ Daawiti qachaa Kebroon keessa tee'ee, woggaa torbaa fi ji'a jaa Yihudaa bulche.

¹² Ilmi Neerii Abneer tajaajiltoota Ish-Bosheetii ilma Saa'olii woliin Mahanaayimii ka'anee, gara qachaa Giibe'onii dhaqane.

¹³ Yo'aab ilmi Zeruyaana deettee fi namooti Daawitii bayanee baleessa Giibe'onii biratti isaan woliin wolde'ane. Gareen Daawitii baleessa irraa as garanaan, gareen Ish-Bosheetii baleessa irraa gara kaaniin tee'ane.

¹⁴ Achiin duuba Abneer Yo'aabiin, «Dargaggooti teennaa fi teessan ka'anee nu duratti wol lolanuu ti» jedhe;

Yo'aabille, «Dansa'a! Wol lolanuu ti» jedhee deebise.

¹⁵ Maarre, dargaggooti kudhanii lama gosa Beniyaaminii keessaa ilma Saa'olii Ish-Bosheetiif ka'anee dhaabbatanee laakkowamane; dargaggooti kudha lama Daawitiif ka'anee dhaabbatanee laakkowamane.

¹⁶ Achiin duuba nami tokko tokkooyyuu mataa diina ifii qabee shallaaga'aan cinaacha hordee woraanee wol qabatanee jigane; tanaaf addeen sun Giibe'on keessatti, «Helkaat-haazuriim*» jedhante.

¹⁷ Lolli guyyaa sanii guddoo jabaatee, Abneerii fi namooti Israa'elii namoota Daawitiitiin injifatamane.

¹⁸ Ilmaan sadiin ta Zeruyaana deette Yo'aab, Abiishaayii fi Asaahel achi jiraniyyu; Asaahel akka buddanne'ee nama ariiti'in fiigu.

¹⁹ Inni gara middaa yookiin gara bita'aa adoo hin gorin Abneer ari'e.

²⁰ Abneer ifi duuba ilaalee, «Ati Asaahelii?» jedhee isa gaafate;

Asaahelille, «Eti'i, anuma» jedhee deebise.

²¹ Achiin duuba Abneer isaan, «Gara middaa yookiin gara bita'aa goriitii, dargaggoota keessaa tokko qabiitii meya woraanaa ka isaa irraa fudhadhu!» jedhe; Asaahel ammoo isa ari'iisa hin lakkinne.

²² Abneer ammalle Asaaheliin, «Na ari'iisa lakkis! Ani maaf si ijjeesa? Fuula obboleessa keeti Yo'aabii attam te'ee ilaala?» jedhe.

²³ Asaahel ammoo isa ari'iisa lakkisuu didate; maarre Abneer qaccee eboo ifitiin gadhaa isaa woraanee, eboon duuddaan fullaatee baate. Asaahelille achumatti jiggoo du'e; nami marti addee Asaahel jiggoo du'e san yenna geyee achuma dhaabbate.

²⁴ Yo'aabii fi Abiishaayi ammoo Abneer ari'ane; isaan adoo isa ari'anuu karaa gara goomolee Giibe'on geessu gara kooba Amaa ka Giiyaa biraa yenna geyane aduun seente.

²⁵ Achiin duuba namooti Beniyaaminii wolitti qabamanee Abneer bira dhufane; isaan garee tokko te'anee qaccee gaaraa irratti addee qabatane.

²⁶ Abneer Yo'aab waamee, «Haga bara baraa shallaaga'aan wol lolaa ree? Dubbiin tun wol fixiisatti akka nu geessitu ati hin hubattuu? Namooti keeti obboleeyyan ifii ari'iisa akka lakkisanu ati maaf hin ajajin?» jedhe.

²⁷ Yo'aab deebisee, «Dhugaa Waaqa jiraata'aa! Adoo ati tana hin dubbatin, namooti haga ganamaatitti obboleeyyan ifii ari'iisa hin lakkisanuuyyuu» jedhe.

²⁸ Maarre Yo'aab tultullaa afuufee, namooti marti Israa'el ari'iisa lakkisane lolille dhaabbate.

²⁹ Abneerii fi namooti isaa halkan ideemaa bulanee Arabaayi dabaranee deemane; laga Yordaanosii bu'anee bayanee, Bethiroon keessa dabaranee gara Mahanaamii dhufane.

³⁰ Achiin duuba Yo'aab Abneer ari'iisa lakkisee deebi'ee namoota ifii mara wolitti qabe; namoota Daawitii keessaa, Asaahel adoo itti hin dabaln namooti kudhanii sagal dhabamane.

³¹ Namooti Daawitii ammoo namoota Beniyaaminii ka Abneerii woliin jiranu keessaa namoota dhibba sadii fi jaatama ijjeesane.

* **2:16** Helkaat-haazuriim: Afaan Ibrootaatiin *Dirree shallaaga'aa* jechu'u.

³² Isaan Asaahel addee du'ee fuudhanee, addee awwaala abbaa isaa Betli-hemitti awwaalane. Achiin duuba namooti halkan deemaa bulanee, yennaa latti bariitu lafa Kebroonii geyane.

3

¹ Lolli mootummaa Daawitiitii fi mootummaa Saa'olii wodhakkaa jiru yennaa bacaa ture; mootummaan Daawiti ittuma jabaataa deentee mootummaan Saa'olii ittuma dadhabaa deente.

Ilmaan Daawitii

² Daawiti Kebroon keessatti ilmaan jaa uumate; ilmi angafichi Amnoon ka Ahiino'aamiin Yizre'elittiin deette,

³ ka lammeesso'oo Kiile'aab ka niitiin Naabaalii nami biyya Qarmelosii irraa du'e, Abigaayil deette, Ka sadeesso'oo Abiishaalom ka intalti Talmaayii mootii Geshuurii Ma'akaan deette,

⁴ ka arfeesso'oo Adoniyaa ka Haagiiti deette, ka shaneesso'oo Shefaaxiyaa ka Abiixaal deette,

⁵ ka jayeesso'oo Yiite'aam ta niitiin Daawitii Eglaan deette; Daawiti isaan kana qachaa Kebroonii keessatti uumate.

Abneer Daawiti Woliin woli Gale

⁶ Mootummaa Saa'oliitii fi mootummaa Daawitii wodhakkaa lolli yennaa jiru, Abneer mootummaa Saa'olii irratti hunna ifii jabeeffataa ture.

⁷ Saa'ol gursumeettii Riizphaa intala Ayyaa qabaayyu; Ish-bosheet Abneeriin, «Ati gursumeettii abbaa kiyyaa woliin maaf ratte?» jedhee gaafate.

⁸ Abneer dubbii Ish-bosheet isatti dubatte kanaaf guddoo aaree, «Ani ka Yihuda'aaf golu nama saricha woy hin baane seetaa? Ani haga adhaa abbaa keeti Saa'oliif, mootummaa isaatiif, fira isaatille'eef addatamummaa qaba; si'ille harka Daawitiititti dabarsee hin kennine; ati ammoo cubbuu ani dubartittii tana woliin hujeeff na himattaa?

⁹ Waadaa Mootiin Waan Maraa Daawitiif gale yoo ani hin muummessin Waaqi na balleessuu ti; ta tana caaltelle natti fiduu ti!

¹⁰ Mootummaan Sanyii Saa'olii irraa fuudhantee, Daawititti akka dabartu barcumaan mootummaa Daawitiille Daanii jalqabee haga Bersheeba'aatitti Yihuda'aa fi Israa'el irratti dhaabbatuu ti» jedhe.

¹¹ Ish-Bosheet waan Abneer sodaateef dubbii tokkolle isatti hin dubbanne.

¹² Achiin duuba Abneer namoota Daawititti ergee, «Lafa tana eentu bulcha? Ati woli galtee na woliin godhadhu; Israa'elooti marti gara keeti akka deebitu ani si hin qarqaara» jedhe.

¹³ Daawitille, «Dansa'a! Ani woli galtee si woliin hin godhadha; ammoo waan tokko si irraa barbaada; gara kiyya yennaa dhuttu, intala Saa'olii Mikaal yoo hin fidin, na bira hin dhufin» jedhe.

¹⁴ Achiin duuba Daawiti namoota gara Ish-Bosheetii ergee, «Niitii tiyya Mikaal ta ani fuudhiisaaf, Filisxeemota dhibba tokko yakkadhee shoggoraa isaanii maraa isi'ii kenne, naaf galchi» jedhe.

¹⁵ Maarre Ish-bosheet namoota ergee, Mikaal abbaa manaa isi'ii ilma Laa'iishii Phalaati'el jalaa fuudhe.

¹⁶ Abbaan manaa isi'ii haga qachaa Bahurii bowaa isii gula deeme; achiin duuba Abneer isaan, «Gara mana keetii deebi'!» jedhe; maarre innille deebi'e.

¹⁷ Abneer jaarsolee Israa'elootaa woliin mari'atee, «Isin kanaan qara Daawiti mootii akka isiniif te'u barbaadaneertaniyyu;

¹⁸ Mootiin Waan Maraa, «Karaa tajaajilaa kiyya Daawitiitiin kolbaa tiyya Israa'el harka Filisxeemotaatii fi harka diinota isaanii jalaa hin baasa» jedhee, waadaa waan galeef, tana amnumaa godha'a» jedhe.

¹⁹ Abneerille kolbaa Beniyaaminiititti tanuma hime; achiin duuba inni Israa'elii fi sanyiin Beniyaaminii waan godhiisaaf barbaadane mara Daawititti himiisaaf gara Kebroonii dhage.

²⁰ Abneer namoota diddama woliin gara Daawitii Kebroon yennaa dhufe, Daawiti Abneerii fi namoota isa woliin jiranuuf areertii qopheesse.

²¹ Achiin duuba Abneer Daawitiin, «Si woliin akka gondooroo godhatanu, atille waan fedhii keetii mara akka bulchitu, dafee dhagee gootaa kiyya mootichaaf, Israa'eloota mara wolitti qaba» jedhe; maarre Daawiti Abneer geegessee, innille nageyaan deeme.

Yo'aab Abneer Ijjeese

²² Namooti Daawitiitii fi namooti Abneerii yennuma san boojuu bacaa fudhatanee duula irraa deebi'ane; Daawiti nageyaan waan isa geegesseeruuf, Abneer Kebroon keessa hin jiruuyyu.

²³ Yo'aabii fi loltooti isa woliin jiranu marti achi yennaa geyane, ilmi Neerii Abneer gara mootichaa akka dhufe, mootichille isa geegeseen inni nageyaan akka deeme Yo'aabitti himane.

²⁴ Maarre Yo'aab gara mootichaa dhagee, «Wonni ati goote kun maan? Ilaa, Abneer gara keeti dhufeeruun maaf akka inni deemu goote?

²⁵ Ati ilma Neerii Abneer hin beetta; inni si sobee bayaa fi gala keeti beekke, waan ati huju mara dooyiisaaf dhufe» jedhe.

²⁶ Achiin duuba Yo'aab Daawiti biraa deemee, Abneer akka fidanuuf namoota erge; namootille baleessa, «Siiraa» jedhamu biratti dhaqqabanee isa deebisane; Daawiti ammoo waan kana hin beenne.

²⁷ Abneer gara Kebroonii yennaa deebi'e, Yo'aab qofuu isa dubbisuu akka barbaadee gara karraa isa geesse; achitti haluu dhiiga obboleessa ifii Asaahelii bayiisaaf gadhaa isaa woraane ijjeese.

²⁸ Daawiti oduu tana yennaa dhage'e, «Marroo dhiiga Abneerii ilma Neeritiif ani fi mootummaan tiyya Mootii Waan Maraa duratti haga bara baraa yakkaa hin qannu;

²⁹ dhiigi Abneerii kun matuma isaatii fi sanyii abbaa isaa irratti te'uu ti; nami nafa hilaa isaa keessaa woy dhangala'u yookiin nami dhukkuba goga'aa farrisiisaa qabu yookiin nami naafate yookiin nami shallaaga'aan du'u yookiin nami sagalee hin qanne sanyii Yo'aabii keessaa hin dhabamin» jedhe.

³⁰ Abneer lola Giibe'onii keessatti obboleessa isaanii Asaahel waan ijjeeseef obboleeyyan isaa Yo'aabii fi Asiishaay isa ijjeesane.

³¹ Achiin duuba Daawiti Yo'aabii fi namoota isa woliin jiranu maraan, «Woyaa teessan tarsaasa'aatii, woyaa gaddaa uffadha'aa, bowaa reeffa Abneeriitiin dura deema'a» jedhe; mootichi Daawitille guyyaa awwaalaa raree reeffa Abneerii gula deeme.

³² Isaan Abneer Kebroonitti awwaalane; mootichille addee awwaala Abneerii biratti qoonqoo ifii ol qabatee bowe; kolbaalle martinuu bowane.

³³ Mootichi Abneeriif faaruu gaddaa faarsee,
«Abneer akka nama gatii hin qannee
du'utii ree?

³⁴ Harki keeti hin hidhanne;
miilli keetille
wodaroo sibiilaatiin hin hidhanne;

ati akka nama namoota hamoollee duratti du'uu duute» jedhee faarfate. Kolbaan martinuu ammalle isaaf bootte.

³⁵ Achiin duuba kolbaan marti gara Daawitii dhuttee akka inni sagalee nyaatuuf kadhatte; Daawiti ammoo, «Haga aduun seentutti daabbo yookiin woy afaaniin yoo qabe, Waaqi na ijjeesuu ti» jedhee kakate.

³⁶ Kolbaan marti tana yaadattee, itti gammadde; wonni mootichi godhe marti isaan gammachiise.

³⁷ Maarre guyyaa san kolbaan marti, Israa'elootille martinuu ijjeefamiisa Abneerii ilma Neerii mootichi akka keessa hin jirre beekane.

³⁸ Achiin duuba mootichi kolbaa ifitiin, «Guyyaa adhaa qondaalli nami guddaan Israa'el keessatti akka du'e hin beennee?

³⁹ Ani adha mootii mudame te'ulle, nama dadhaba'a; ilmaan Zeruyaana deetee na irratti jabaatteerti; worra hantuu huju akkuma hujii isaaniititti, Mootiin Waan Maraa isaan adabuu ti» jedhe.

4

Ish-bosheet Ijjeefame

¹ Abneer qachaa Kebroonii keessatti akka ijjeefame ilmi Saa'olii Ish-bosheet yennaa dhage'e, nayee harki irraa bu'e; kolbaan Israa'eliille martinuu guddoo rifatte.

² Ilmi Saa'olii Ish-bosheet ajajjoota loltootaa namootaa lama qabaayyu; maqaan tokkoo Ba'ana'a, ta kaanii Rekaab; isaan gosa Beniyaaminii keessaa ilmaan Rimoonii nama qachaa Berootii ti; Berooti kutaa Beniyaaminiititti laakkowanti.

³ Kolbaan Berootii gara Giitaayimii baqattee haga adhaa alagaa teetee achi leeti.

⁴ Ilmi Saa'olii Yonaataan ilma miila lamaanuu laashowe tokko qabaayyu; yennaa Saa'olii fi Yonaataan ijjeefamanu inni nama woggaa shanii ti; oduun isaan ijjeefamane Yizre'el keessatti yennaa dhage'antu ta isa guddittu isa ba'atee ariitiin adoo baqattuu inni isii irraa bu'ee laashowe. Maqaan isaalle Mefii-Bosheet.

⁵ Ilmaan Rimoonii nama biyya Berootii Rekaabii fi Ba'anaan gara mana Ish-Bosheetii dhaqiisaaf ka'anee, inni saafowa foorfatiisaaf taqee irraa irkatee adoo jiruu, yennaa aduun o'itu san achi geyane;

⁶ akka nama qamadii barbaadataaruu gara manaa seenanee gadhaa isaa woraanane; achiin duuba Rekaabii fi obboleessi isaa Ba'anaan laana bayanee deemane.

⁷ Isaan Ish-bosheet kolloo ifii keessa taqee irraa adoo irkatee jiruu seenane; isaan isa woraananee ijjeesaneen duuba mataa isaa muranee fudhatanee halkan guutuu karaa Arabaayii deemane.

⁸ Mataa Ish-Bosheetii san Kebroonitti gara Daawitii mootichaa fidanee, «Mataan diina keeti Ish-Bosheetii ilma Saa'olii ka si ijjeesiisaaf barbaadee kunoo ti; guyyaa adhaa Mootiin Waan Maraa si gootaa mooticha keennaaf, Saa'olii fi sanyii isaatiifille haluu bayeera» jedhane.

⁹ Daawitille ilmaan Rimoonii nama biyya Berootii Rekaabii fi obboleessa isaa Ba'ana'an, «Dhugaa Mootii Waan Maraa ka jiraataa te'ee, ka rakkoo mara jalaa na baasee,

¹⁰ akka waan oduu dansaa natti himee, nama, «Saa'ol du'eera» jedhee natti hime, ani isa qabee Siiqlaagitti ijjeese; oduu inni natti himeef badhaasi ani isaaf kenne kana.

¹¹ Eegasuu, nama yakkaa hin qanne ka manuma ifii keessa taqee ifii irra irkatee san, worra hamoollee isa ijjeesane san ani attam irra caalaa adabuu

dhaba ree? Ani dhiiga isaa harka keessan keessaa barbaadee lafa irraa isin hin balleessuu ree?» jedhe.

¹² Maarre Daawiti namoota ifii ajajee, isaanille isaan ijjeesane harkaa fi miila isaanii muranee, reeffa isaanii baleessa Kebroon bira jiru biratti fan-nisane; mataa Ish-Bosheetii ammoo fuudhane qachaa Kebroonii keessatti addee awwaala Abneerii biratti awwaalane.

5

Daawiti Mootii Israa'elii Te'e

¹ Gosi Israa'elii marti Kebroonitti gara Daawitii dhufanee, «Nuuti dhiigaa fi foon keeti;

² kanaan qara, yennaa Saa'ol mootii keenna te'eerulle, nami Israa'eloota sooresse si'i; Mootiin Waan Maraalle, si'iin, «Kolbaa tiyya Israa'el hin tissita; bulchaa isaanille hin teeta» jedheeraayyu» jedhane.

³ Maarre jaarsoleen Israa'elii marti Kebroonitti gara Daawitii mootichaa dhufane; mootichi Daawiti Kebroonitti Mootii Waan Maraa duratti isaan woliin gondoorroo godhate; isaanille Daawiti muudanee Israa'el irratti mootii godhane.

⁴ Daawiti yennaa mootii te'e, nama woggaa soddomaa ti; inni woggaa afurtama bulche.

⁵ Inni Kebroon keessa tee'ee woggaa torbaa fi ji'a ja kolbaa Yihuda'aa bulche; Yerusaaalem keessalle tee'ee, woggaa soddonii sad kolbaa Israa'elii maraa fi kolbaa Yihuda'aa bulche.

Daawiti Qachaa Yersaaleemii Qabate

⁶ Mootichi Daawitii fi namooti isaa Yibusoota qachaa Yersaaleemii keessa le'anuu loliisaaf itti duulane; Yibusooti, «Daawiti asi seenuu hin dande'u» jedhane waan yaadaneef, Daawitiin, «Worri balla'aa fi naafinu waan si dhoogganuuf, ati asi hin seentu» jedhane;

⁷ te'uu malee Daawiti kushee Xiyoonii qabatee, addeen sun, «qachaa Daawitii» jedhante.

⁸ Guyyaa san Daawiti, «Nami Yibusoota worra balla'aa fi naafa, diinota Daawitii injifatiisaaf barbaadu, xurree bisaan yaa'u ta lafa jalaatiin dabaru ti» jedhe; kanaaf, «Balla'aa fi naafi mana mootumma'aa hin seenanu» jedhamane.

⁹ Daawiti kushee Xiyoonii qabate san keessa le'ee, «Qachaa Daawitii» jedhee moggaase; inni kaabii, «Miiloo» jedhantuun kaasee itti naannessee gara keessaatitti kushee qacha'aa jabeessee ijaare.

¹⁰ Mootiin Waan Maraa Waqi Waan Mara Dande'u isa woliin waan jiruuf, Daawiti ittuma jabaataa deeme.

¹¹ Mootiin Xiirrosii Hiiraam namoota ifii muka hindheensa, worra muka bocuu fi worra dhakaa bocu woliin gara Daawitii erge; isaanille Daawitiif mana mootumma'aa ijaarane.

¹² Daawitille akka Mootiin Waan Maraa kolbaa Israa'elii irratti mootii isa godhee fi sababa kolbaa ifii Israa'eliitiif jedhee mootummaa isalle akka guddise beeke.

¹³ Daawiti qachaa kebrooniitii ka'ee gara Yersaaleemii deemeen duuba, achitti gursumeeyyi'ii fi niitota dhibii dabalee fuudhee, ilmaanii fi durri dhibiin isaaf dhalatane.

¹⁴ Maqaan ilmaan isaa ka Yersaaleem keessatti isaaf dhalatane: Shaa-muwaa, Shobaab, Naataan, Solomoon,

¹⁵ Yiibhaar, Eliishuwaa, Nefeg, Yaafii'aa,

¹⁶ Eliishaamaa, Eliyaada'aa fi Eliifelex fa'a.

Daawiti Filisxeemota Injifate

¹⁷ Daawiti muudamee mootii Israa'elii akka te'e, Filisxeemoti yennaa dhageette, marti isaanii isa barbaadiisaaf bayane; Daawiti ammoo tana dhage'ee gara kushee ifii gad bu'e.

¹⁸ Filisxeemotille dhufanee, dhooqa Refaa'iimii keessa bittinnowanee addee qabatane.

¹⁹ Maarre Daawiti, «Worra Filisxeemotaatitti duuluu? Ati harka kiyyatti dabarsitee isaan hin kennitaa?» jedhee Mootii Waan Maraa gaafate.

Mootiin Waan Maraa deebisee, «Eeti'i, duuli, anille dhugumaan Filisxeemota harka keetitti dabarsee hin kenna» jedhe.

²⁰ Maarre Daawiti gara Ba'aal-Pheraaziimii dhagee, achitti Filisxeemota lolee injifate. Inni, «Akkuma lolaan bisaanii jabaan ededa caccassu, Mootiin Waan Maraa diinota kiyya fuula kiyya duratti bittinneesse» jedhee, maqaa addee sanii, «Ba'aal-Pheraaziim*» jedhe.

²¹ Worri Filisxeemotaa waaqota ifii achitti lakkisane waan baqataneef, Daawitii fi namooti isaa waaqota isaanii san fudhatane.

²² Filisxeemoti ammalle dhufanee dhooqa Refaa'iimii keessa bittinnowanee addee qabatane.

²³ Maarre Daawiti Mootii Waan Maraa gaafate; Mootiin Waan Maraalle deebisee, «Gara duubaatiin marsiitii mukoota harru'uu duratti isaan loli malee, fuula duraan itti hin dhaqin.

²⁴ Qaccee mukoota harru'uu gubba'atti hirba duulaa yennaa dhageette, ani Mootiin Waan Maraa loltoota Filisxeemotaa loliisaaf si'iin dura waan bayeef, ariiti'iin gara duraa deemi» jedhe.

²⁵ Maarre Daawiti akkuma Mootiin Waan Maraa isa ajaje godhee, worra Filisxeemotaa Giibe'onii haga Gezerii ari'e.

6

Daawiti Saanduqa Gondooro'oo Gara Yerusaalemii Fide

¹ Daawiti ammalle Israa'eloota keessaa namoota filamane kuma soddoma wolitti qabe.

² Daawitii fi namooti isaa marti Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa, ka maqaa Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, ka dada ol-gubba'aa ta koola qaddu irra tee'eeruutiin waamame, qachaa Ba'aalaa ka Yihudaa keessaatii fidiisaaf achi deemane.

³ Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa garreettaa fardaan harkifamu haareya irra keyanee, mana Abinaadaabii ka kooba irra jiru keessaa fuudhanee fidane; ilmaan Abinaadaabii Uzaa fi Ahiiyon garreettaa fardaan harkifamu haareya san,

⁴ Saanduqi Gondooro'oo ka Waaqaa irra jiruun yennaa oofanu, Ahiiyoti duraan deemaayyu.

⁵ Daawitii fi kolbaan Israa'elii duudiin, kiraara guddichaan, maseenqo'oon, dibbe'een, bilibilaa fi sibiila qilillisuun hunna ifii guutu'uun faaruu faarsaa ulfinna Mootii Waan Maraatiif firinxiixane.

⁶ Isaan eeddummee Naakonii bira yennaa geyane, qotiyyooti garreettaa san harkittu waan gufatteef, Uzaan Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa hiixatee qabe.

⁷ Uzaan Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa waan faanshesseef, aariin Mootii Waan Maraa isa irratti bobeette; tanaaf Waaqi isa xixee, inni Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa biratti achumatti du'e.

* **5:20** Ba'aal-Pheraaziim: Afaan Ibrootaatiin Mootiin Waan Maraa caccassuu ti jechu'u.

⁸ Mootiin Waan Maraa aaree Uzaa waan ijjeeseef, Daawiti aare; addeen sun haga adhaa, «Pherez-Uzaa*» jedhanti.

⁹ Daawiti guyyaa san Mootii Waan Maraa waan sodaateef, «Saanduqi Gondooro'oo ka Mootii Waan Maraa attam gara kiyya dhufuu dande'a ree?» jedhe.

¹⁰ Maarre Daawiti Saanduqa Gondooro'oo ka Mootii Waan Maraa san gara qachaa ifii geessiisa waan hin barbaanneef, gara mana Obed-Edoomii nama biyya Gaatii geesse.

¹¹ Saanduqi Gondooro'oo ka Mootii Waan Maraa mana Obed-Edoomii nama biyya Gaatii keessa ji'a sad ture; Mootiin Waan Maraalle Obed-Edoomii fi maatii isaa mara eebbise.

¹² Mootiin Waan Maraa Obed-Edoomii fi maatii isaa, waan inni qabu maralle sababa Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaatiif akka eebbise mooticha Daawititti himane; maarre Daawiti achi dhagee Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa mana Obed-Edoomiiti gara qachaa ifii gammada gudda'an fide.

¹³ Worri Saanduqa Gondooro'oo Ka Mootii Waan Maraa ba'ate tarkaaffii jaa akkuma deemanuun, Daawiti korma tokkoo fi dardara cooma tokko ciincaa dhikeessaayyu.

¹⁴ Daawiti woyaa hayyumma'aa ta qomaa ta quncee talba'aa irraa hujante uffatee hunna ifii guutu'uun Mootii Waan Maraa duratti firinxiixe.

¹⁵ Akka kanaan Daawitii fi kolbaan Israa'elii marti ilillisaa, tultullaa afuufaa Saanduqa Gondooro'oo Ka Mootii Waan Maraa ol fidane.

¹⁶ Saanduqi Gondooro'oo ka Mootii Waan Maraa qachaa Daawitii yennaa galu intalti Saa'olii Mikaal foddada manaatiin ilaalte; mootichi Daawiti Mootii Waan Maraa duratti utaalaa firinxiixuun dhaggitee, gadhaa ifii keessatti isa tuffatte.

¹⁷ Namooti Saanduqa Gondooro'oo Ka Mootii Waan Maraa fidanee, dunkaanii Daawiti dhaabe keessa addee inni qopheesse keyane; Daawitille kennansa gubamuu fi kennansa tokkumma'aa Mootii Waan maraa duratti dhikeesse.

¹⁸ Daawiti kennansa gubamuu fi kennansa tokkumma'aa dhikeesse duuba, maqaa Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadeetiin kolbaa eebbise.

¹⁹ Daawiti kolbaa Israa'elii dhiiraa fi dubartii duudi'iif tokko tokkoo isaaniitiif, daabboo tokko tokko, foon gumaa tokko tokkoo fi xaltaa midhaan woyni'ii tokko tokko qoode; achiin duuba kolbaan marti gara mana ifii deemane.

²⁰ Daawiti maatii ifii eebbisiisaaf gara mana ifii yennaa deebi'e, intalti Saa'olii Mikaal isa fudhatiisaaf gad baatee, «Mootiin Israa'elii adha dubartoota tajaajiltoota qondaaltota isaa duratti akka nama bu'aa hin qannee qullaa dhaggamiis ulfinna attamii ti!» jette.

²¹ Daawiti deebisee Mikaaliin, «Mootii Waan Maraa ka abbaa keeti yookiin worra mana isaa keessa jiranu caalaa, kolbaa ifii Israa'el irratti na muudee mootii na godhe duratti gammadee firinxiixe. Ammalle ani Mootii Waan Maraa duratti hin firinxiixa.

²² Ani tana caalaa isa duratti ifi gad hin qaba; ila teeti duratti hin salphadha. Te'uu malee, garboolee ati maqaa dhootte duratti ammoo ulfinna hin dhaggadha» jedhe.

²³ Tanaaf, intalti Saa'olii Mikaal adoo hin deyin duute.

7

Waadaa Mootiin Waan Maraa Daawitiif Gale

* 6:8 Pherez-Uzaa: Afaan Ibrootaatiin badiisa Uza'aa jechu'u.

¹ Mootiin Waan Maraa diinota adaala isaa jiranu mara irraa foora isaaf kennee, mootichi Daawiti mana mootummaa ifii keessa nageyaan le'een duuba,

² raagicha Naataaniin, «Kunoo ani mana mootummaa'aa ka muka hindheensaatiin ijaarame keessa le'a; Saanduqi Gondooro'oo ka Waaqaa ammoo dunkaanii keessa jira» jedhe.

³ Naataanille mootichaan, «Mootiin Waan Maraa si woliin waan jiruuf waan yaadde mara godhi» jedhe.

⁴ Galgaluma san jechi Mootii Waan Maraa gara Naataanii dhufee,

⁵ «Dhaqiitii, tajaajilaa kiyya Daawitiin Mootiin Waan Maraa, «Mana ani keessa le'u ka anaaf ijaaru si'ii moti.

⁶ Ani kolbaa Israa'elii biyya Gibxi'ii keessaa haga baasee jalqabee haga adhaa dunkaanuma keessa jiraataa, asii fi achi deemaa ture malee mana keessa hin leene.

⁷ Israa'eloota mara woliin addee deeme maratti kolbaa tiyya Israa'el akka tissanuuf soressitoota ajaje keessaa tokkolleen: Muka hindheensaatiin mana naaf maaf hin ijaarre? Jedhee beekaa?» jedhi.

⁸ «Ati ammalle tajaajilaa kiyya Daawitiin, «Mootiin Waan Maraa ka Waan Mara Dade: Ati kolbaa tiyya Israa'el akka bulchituuf, addee horii itti tiffatanu, hoolee tissiisatti jirtuun si fuudhe;

⁹ ani addee ati dhaxxe mara si woliin jiraadhee, diinota keeti si duraa balleesseera; amma akkuma worra gugurdaa maqaan isaanii lafa irratti beekkamee, maqaan keetiille akka beekkamu hin godha.

¹⁰ Kolbaan tiyya Israa'el addee ifii akka qabaatanuu fi haganaa achii akka hin sarbanne*, addee le'anuu isaaniif hin kenna; haganaa achi kolbaan hamooleen akka qaraa isaan hin cunqursitu.

¹¹ Abbootii mura'aa isaaniif haga muudeen jalqabanee kolbaan hamooleen akka isaan irratti godhaa turane, haganaa achi isaan irratti hin godhanu; ani diinota keeti mara irraa si hin foorfachiisa. Ani Mootiin Waan Maraatuun mana si'iif hin ijaara.

¹² Barri keeti geyee, duutee, abbootii teeti biratti yennaa awwaalantu, sanyii teeti keessaa ilma keeti tokkocha addee teetitti mootii hin godha; mootummaa isaalle hin jabeessa.

¹³ Maqaa kiyyaaf nami mana ijaaru isa; anille barcuma mootummaa isaa haga bara baraa isaaf hin jabeessa.

¹⁴ Ani abbaa isaaf hin te'a; innille ilma kiyya hin te'a; yoo inni balleesse ammoo ulee nami adabamuun isa hin adaba; akkuma ijoolleen liche'een dikantu isa hin dika.

¹⁵ Garuu Saa'olii si duraa kaase irraa jaalala kiyya ka bara baraa akkuma kaase, isa irraa hin kaasu.

¹⁶ Manni keetii fi mootummaan teeti na duratti haga bara baraa jabaattee hin dhaabbatti; barcumaan mootummaa teetiille haga bara baraa jabaatee hin dhaabbata jedha» jedhi» jedhe.

¹⁷ Naataan jecha mudhii tanaa mara Daawititti hime.

Daadimata Daawitii

¹⁸ Achiin duuba mootichi Daawiti dhagee, Mootii Waan Maraa dura tee'ee, «Ee, Goottaa Mootii Waan Maraa, ati ka ana asi geessitte, ani eennu? Sanyiin tiyyalle maan?

* **7:10 Hin sarbanne:** Sarbama jechuun raafama yookiin jeeqama jechu'u

¹⁹ Ee, Goottaa Mootii Waan Maraa, tun si hangannaan, marroo sanyii tajaajilaa keetii ta gara duraa dubbatteerta; ee, Goottaa Mootii Waan Maraa, kun waan ati yennaa mara namaaf gootuu?

²⁰ Ee, Goottaa Mootii Waan Maraa, ati ana tajaajilaa keeti waan beettuuf, tana caalaa maan si'iin jedhuu dande'a ree?

²¹ Akka jecha keetiitii fi akka yaada gadhaa keetii waan guddaa kana gootee, ana tajaajilaa keetitti beessitteerta.

²² Ee, Goottaa Mootii Waan Maraa, ati attam attam gudda'a! Ka akka keetii tokkole hin jiru; akkuma gurra keennaan dhageenne, si malee Waaqi dhibiin hin jiru.

²³ Kolbaa teeti godhatiisaaf ka ati wodatte, ka ati dura isaanii deentee, maqaan keeti akka beekkamuuf, gosa biyya adda addaati fi waaqota dharaa ka isaanii ka isaan duraa balleessite, waan gugurdo'oo fi maade'ee ta sodaa-chittu isaaniif gootee, ka biyya Gibxi'iitii baatte, kolbaa teeti Israa'elii malee kolbaan dhibiin lafa irra jirtii?

²⁴ Ee, Mootii Waan Maraa, ati kolbaa teeti Israa'el haga bara baraa kolbaa teeti godhattee, isaaniif Waaqa teeteerta.

²⁵ «Ammalle ee, Mootii Waan Maraa Waaqa, marroo tajaajilaa keetiitii fi sanyii isaatiif waadaa galte haga bara baraa jabeessi; akkuma dubbatte muummessiif.

²⁶ Achiin duuba, maqaan keetille haga bara baraa guddaa hin te'a; namootille, «Mootiin Waan Maraa ka Waan Mara Dade, Waaqa Israa'elii ti» hin jedhan; sanyiin tajaajilaa keeti Daawitiille si duratti jabaattee hin dhaabbatti.

²⁷ Ee, Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadde, Waaqa Israa'elii, «Ani si'iif mana hin ijaara» jettee tana tajaajilaa keetitti mudhitteerta; maarre ani tajaajilaan keeti daadimata kana gara keeti dhikeeffatiisaaf sitti guuleera.

²⁸ «Ee, Goottaa Mootii Waan maraa, ati Waaqa! Jechi keetille addatama'a; waan dansaa kana godhiisaaf tajaajilaa keetiif waadaa galteerta.

²⁹ Akka si duratti haga bara baraa jabaatee le'u, maganne'e sanyii tajaajilaa keetii ammalle eebbisi! Ee, Goottaa Mootii Waan Maraa, tana atuu waan dubbatteef, eebba keetiin sanyiin tajaajilaa keetii haga bara baraa hin eebbifanti» jedhe.

8

Daawiti Injifannoo Dhaggate (1 Dab. 1:1-18)

¹ Kanaan duuba mootichi Daawiti Filisxeemota lolee injifatee, qachaa Mateg-Amayii ta isaan gara qabatane harka Filisxeemotaatii baase.

² Daawiti Mo'aabotalle injifate; namoota booji'e lafatti irkisee wodaro'oon isaan mike*; worra wodaro'oon mikame keessaa harka lama ijjeesee, harka tokko lakkise; maarre worri Mo'aabotaa tajaajiltoota isaa te'anee isa gab-barane.

³ Kana maleelle Daawiti lafa laga Efraaxiisii bira jirtu deebisee qabatiisaaf yennaa dhage, mootii Zobaa ilma Rehoobii Hadaad-Ezer lolee,

⁴ garreettaa fardaan harkifamu ka isaa kuma tokko, abbootii fardaa kuma torbaa fi loltoota miilaa kuma diddama booji'e; garreettaa fardaan harkifamu dhibba tokko callaa hamburee, kaan maraa mogolee ciccire.

* **8:2 Mike:** Hagam akka isaan dheeratanu ilaale.

⁵ Namooti Sooriya'aa worri Damaasqoo keessa le'anuu, mootii Zobaa Hadaad-Ezer qarqaariisaaf yennaa dhufane, Daawiti isaan keessaa namoota kuma diddamii lama ijjeese.

⁶ Achiin duuba mootummaa Damaasqoo'oo Aaram keessatti quttuma loltootaa godhate; worri Sooriya'aa tajaajiltoota isaa te'anee isa gabbarane; Mootiin Waan Maraalle addee Daawiti dhage maratti injifannoo isaaf kenne.

⁷ Daawiti wontee worqii irraa hujante ta qondaaltota Hadaad-Ezerii fudhatee gara Yersaaleemii fide.

⁸ Mootichi Daawiti qachoota Hadaad-Ezerii, Bexa'aa fi Berootaayi keessaa sageettuu bacaa guurate.

⁹ Mootiin Haamaatii To'i akka Daawiti loltoota Hadaad-Ezerii mara injifate yennaa dhage'e,

¹⁰ To'i qara Hadaad-Ezer waliin wol lolaa waan tureef, Daawiti Hadaad-Ezer irratti injifannoo waan dhaggateef, nageya gaafatee, «Baga gammadde» akka jedhuuf ilma ifii Yoraam gara Daawitii erge; innille meya worqii, meeti'ii fi sageettuu irraa hujame qabatee dhage.

¹¹ Mootichi Daawiti gosa biyya adda addaa mara irraa waan qara gabbar-siifateen meeti'ii fi worqii isaaf galte keessaa akkuma qara godhe meya kana Mootii Waan Maraatiif adda baase.

¹² Gosi biyya adda addaa worri qara isa gabbarane, worra Edoomii, worra Mo'aabii, worra Amoonii, worra Filisxeemotaatii fi worra Amaaleqootaa ti. Inni mootii Zobaa ilma Rehoobii Hadaad-Ezer irraa meya booji'elle Mootii Waan Maraatiif adda baase.

¹³ Daawiti addee, «Dhooqa sooddaa» jedhantutti Edoomota kuma kudhanii saddeeti ijjeesee deebi'een duuba maqaan isaa beekkame.

¹⁴ Inni biyya Edoomii mara keessatti addee quttumaa godhatee, Edoomoti marti isa tajaajilane; Mootiin Waan Maraalle addee Daawiti dhage maratti injifannoo isaaf kenne.

¹⁵ Daawiti Israa'eloota mara irratti mootii te'ee, kolbaa maraaf muraahaa muree, waan sirrii te'e huje.

¹⁶ Yo'aab ilma Zeruyaana deette, ajajaa loltootaa te'e; ilma Ahiiludii Yoshaafaax barreessaa dabarsi'ii ti.

¹⁷ Ilmi Ahiixubii Zaadoqii fi ilma Abiyaataarii Abiimelek hayyoota; Ser-aayaan barreessaa mana mootumma'aa ti.

¹⁸ Ilmi Yehoyaada'aa Benaayaan itti gaafatamaa Keretootaatii fi Pheletootaa ti; ilmaan Daawitii ammoo gorsitoota mana mootumma'aa ti.

9

Daawitii Fi Mefii-Bosheet

¹ Daawiti, «Marroo Yonaataaniitiif jedhee ka ani waan dansaa godhuufii dande'u, sanyii Saa'olii keessaa nami hafe hin jiraataa laati?» jedhee gaafate.

² Maatii Saa'olii keessa tajaajilaan, «Ziibaa» jedhamu tokko waan jiruuf, akka inni gara Daawitii dhagu isa waamane; mootichille, nami «Ziibaa» jedhamu si'ii? jedhee isa gaafate.

Innille, «Eeti'i ana tajaajilaa keeti» jedhee deebise.

³ Mootichi, «Arjummaa Waaqaa akka ani itti mudhisuuf sanyii Saa'olii keessaa nami hafe hin jiruu?» jedhee gaafate;

Ziibaan deebisee, «Ilmi Yonaataanii ka miila naafateeru tokko jira» jedhe.

⁴ Mootichille, «Inni amma eessa jira?» jedhee gaafate.

Ziibaan deebisee, «Inni qachaa, «Lodebaar» jedhamu keessa mana Maakiirii ilma Amii'elii keessa jira» jedhe.

⁵ Maarre mootichi Daawiti qachaa, «Lodebaar» jedhamu keessaa mana Maakiirii ilma Amii'elii keessaa Mefii-Bosheet akka fidanu godhe.

⁶ Akaakoon Saa'olii ilmi Yonaataanii Mefii-Bosheet gara Daawitii dhufee, ulfinna isaatiif gad lafatti gombifamee nageya fuudhe; Daawitille, «Mefii-Bosheet» jedhee waame; innille, «Kunoo ani tajaajilaan keeti» jedheen.

⁷ Daawiti deebisee, «Hin sodaatin! Marroo abbaa keetii Yonaataaniitiif jedhee ani dhugumaan si'iif waan dansaa hin godha; lafa akaakoo keeti Saa'olii mara si'iif hin deebisa; yennaa mara qorii tiyya keessaa hin nyaatta» jedheen.

⁸ Mefii-Bosheet gad lafatti gombifamee, «Ana nama akka saree duuteetitti laakkowamuuf, ta ati waan dansaa akkasii gootuuf, ani tajaajilaan keeti eennu inni?» jedhe.

⁹ Achiin duuba mootichi tajaajilaa Saa'olii Ziibaa waamee, «Ani waan qabeenna Saa'oliitii fi maatii isaa te'e mara Mefii-Bosheetii akkaakoo gootaa keetii Saa'oliitiif kenneera.

¹⁰ Ati, ilmaan teetii fi tajaajiltooti teeti akaakoon* gootaa keetii waan nyaatu akka dhaggatu lafa isaaf qota'aatii midhaan isaaf galcha'a! Akaakoon gootaa keetii Mefii-Bosheet ammoo yennaa mara qorii tiyya keessaa nyaata» jedhe; Ziibaan ilmaan kudhanii shanii fi tajaajiltoota diddama qabaayyu.

¹¹ Achiin duuba Ziibaan mootichaan, «Waan goottaan kiyya mootichi tajaajilaa ifii ajaje mara, ani tajaajilaan keeti hin huja» jedhe; maarre Mefii-Bosheet akkuma ilmaan mootichaa qorii Daawitii keessaa nyaataayyu.

¹² Mefii-Bosheet ilma dargaggeessa, «Miikaa» jedhamu tokko qabaayyu; namooti maatii Ziibaa keessa jiranu marti tajaajiltoota Mefii-Bosheetii te'ane.

¹³ Mefii-Bosheet yennaa mara qorii mootichaa keessaa waan nyaatuuf, Yerusaalem keessa le'aayyu; inni miila lamaanuu naafa.

10

Daawiti Worra Amoonotaatii Fi Worra Sooriya'aa Injifate

¹ Kanaan duuba mootiin Amoonotaa duunaan, ilmi isaa Hanuun addee isaatiitti mootii te'e.

² Daawiti, «Abbaan isaa naaf waan dansaa akkuma godhe, anille ilma Nahaashii Hanuuniif waan dansaa hin godha» jedhee hede; maarre marroo du'a abbaa isaatiif akka isa jajjabeessanu, Daawiti namoota erge; namooti Daawiti erge gara lafa Amoonotaa yennaa dhufane,

³ qondaaltoti Amoonotaa gootaa ifii Hanuuniin, «Daawiti namoota ergee si jajjabeessiis, du'a abbaa keetiitiif gaddee seetaa? Namooti inni erge qachaa akka qorqoranee, dooyanee akka balleessanuuf motii?» jedhane.

⁴ Maarre Hanuun namoota Daawiti erge san qabee areeda isaanii ka gara tokkoo irraa haadisiise; woyaa isaaniille haga hidha isaaniititti irraa cirsiisee isaan ari'e.

⁵ Daawiti oduu tana yennaa dhage'e, namooti guddoo waan fokkifata-neeranuuf, «Haga areedi keessan latutti Yerikoo tura'aatii, achiin duuba deebi'a'aa kowa'a» jedhee namoota isaanitti erge.

⁶ Amoonoti akka Daawiti isaan jibbe yennaa hubatane, qachaa Bet-Rehoobiitii fi qachaa Zobaatiitiin loltoota miilaa ta Sooriya'aa kuma diddama, mootiin Ma'akaa namoota isaa kuma tokko woliin, qachaa Xoobii keessalle'ee namoota kuma kudhanii lama qaxaratane.

* **9:10 Akaakoo:** Akaakoon kun ilma ilma isaa ti.

⁷ Daawiti oduu tana yennaa dhage'e, loltoota lolaan beekkamane mara woliin Yo'aab erge.

⁸ Amoonoti bayanee balbala seensuma karra qachaa isaanii duratti addee qabatane; worri Sooriya'aa ka qachaa Zoba'aatii fi ka qachaa Bet-Rehoobii akkasuma namooti qachaa Xoobiitii fi namooti Ma'akaa qofuu diida keessatti addee qabatane.

⁹ Yo'aab duraa fi duubaan loltoota diinaatiin akka marfame yennaa dhagge, loltoota Israa'elii keessaa loltoota gootota filee worra Sooriya'aa akka lolanuuf erge.

¹⁰ Worra hafe irratti obboleessa ifii Abiishaayi ajajaa godhee Amoonota akka lolanuuf erge.

¹¹ Yo'aab obboleessa ifiitiin, «Worri Sooriya'aa yoo natti jabaate, ati na hin qarqaarta; worri Amoonotaa ammoo yoo sitti jabaatane ani dhufee si hin qarqaara.

¹² Jabaadhu! Kolbaa teennaa fi qachoota Waaqa keennaatiif jannuma'aan lolluu ti. Mootiin Waan Maraa waan isa duratti dansaa te'e hin godha» jedhe.

¹³ Achiin duuba Yo'aabii fi loltooti isa woliin jiranu worra Sooriya'aa lolane; worri Sooriya'aalle isaan duraa baqate.

¹⁴ Worri Sooriya'aa akka baqatiisatti jiranu worri Amoonotaa yennaa dhaggane, isaanille Abiisaayi duraa baqatanee qachaa keessa timane; maarre Yo'aab Amoonota loliisa lakkisee gara qachaa Yersaaleemii deebi'e.

¹⁵ Worri Sooriya'aa akka Israa'elootaan injifatamane yennaa beekane ammalle wolitti qabane.

¹⁶ Mootichi Hadaad-Ezer namoota ergee worra Sooriya'aa ka laga Efraaxiisiitiin gama jiranu akka fidanu godhe; isaan Shofaakii ajajaa loltoota Hadaad-Ezeriitii sooreffamanee gara qachaa «Helaam» jedhamuu dhaqane.

¹⁷ Daawiti tana yennaa dhage'e, Israa'eloota mara wolitti qabee, Yordaanos gamatti bu'anee bayanee gara qachaa, «Helaam» jedhamu sanii dhaqane; worri Sooriya'aa hiriiranee Daawiti lolane;

¹⁸ te'uu malee Israa'eloota duraa baqatane; Daawiti namoota isaanii keessaa worra garreettaa fardaan harkifamu oofu dhibba torbaa fi loltoota miilaa kuma afurtama ijjeese; inni ajajaa loltoota isaanii Shofaakille ijjeese.

¹⁹ Moototi Hadaad-Ezer tajaajilanu marti akka Israa'elootaan injifatamane yennaa dhaggane, Israa'eloota woliin woli galanee isaan tajaajilane; maarre worri Sooriya'aa yennaa sanii jalqabanee worra Amoonotaa qarqaariisa sodaatane.

11

Daawitii Fi Baat-Sheebaa

¹ Ji'a furmaataa bara moototi lolaaf baatu, Daawiti qondaaltota ifiitii fi loltoota Israa'elootaa mara woliin Yo'aab duula erge; isaan Amoonota balleessanee qachaa «Raabaat» jedhamu marsane; Daawiti ammoo Yersaaleem keessatti hafeeraayyu.

² Gaafa tokko galgala Daawiti taqee ifii irraa ka'ee heellichoo mana mootumma'aa gubbaa asii achi deddeebi'aa adoo jiruu dubartiin takka nafa dhiqatiisatti jirtuun dhagge; isiin guddoo miidhaddu'u.

³ Daawiti nama itti ergee marroo isi'ii akka qoratu godhe; namichi deebisee, «Isiin niitii Uriiyaa nama biyya Heetii, intala Elii'aamii Baat-Sheeba'aa motii?» jedhe.

⁴ Achiin duuba nama itti ergee akka isii fidanu godhe; isiin isa bira yennaa dhutte aadaa seera dubarti'ii irraa qulqulloonteertiyyu; Daawitille isii woliin rafe; achiin duuba isiin gara manaa deente.

⁵ Dubartittiin ulfoottee, «Ani si'iif ulfoyeera» jettee Daawititti ergitee hinte.

⁶ Maarre Daawiti Yo'aabiin, «Uriiyaa nama biyya Heetii gara kiyya ergi» jedhee dhaansa itti erge; Yo'aabille isa gara Daawitii erge.

⁷ Uriiyaan gara isaa yennaa dhufe, Daawiti, nageya Yo'aabiitii fi loltootaa, oduu lolaalle isa gaafate.

⁸ Achiin duuba Daawiti Uriiyaan, «Gara mana keetii dhaqiitii miila keeti dhiqadhuu foorfadhu» jedhe; maarre Uriiyaan mana mootumma'aatii baye; mootichille kennansa isa gula erge.

⁹ Uriiyaan ammoo tajaajiltoota gootaa ifii mara woliin balbala karra mana mootumma'aa dura rafe malee gara mana ifii hin deenne.

¹⁰ Uriiyaan gara mana ifii akka hin deenne Daawititti yennaa himane, Daawiti isaan, «Ati karaa fago'oo dhuttee motii? Maaf gara mana keetii hin deemin?» jedhee gaafate.

¹¹ Uriiyaan Daawitiin, «Saanduqi Gondooro'oo, Israa'elii fi Yihudaan dunkaanii keessa jiranuun, gootaa kiyya Yo'aabii fi namooti gootaa kiyyaa diida qubatanee jiranuun, ani nyaadhee uniisaaf, niitii tiyya woliin rafiisaaf attamiin gara mana kiyyaa deema ree? Lubbuu teetiin kakadha, ani waan akkanaa hin godhu!» jedhe.

¹² Achiin duuba Daawiti isaan, «Ani boru si geegessaatii, adha asuma buli!» jedhe; maarre Uriiyaan guyyaa sanii fi guyyaa itti aanulle achuma Yersaalem keessa ture.

¹³ Achiin duuba Daawiti Uriiyaa waamee, isa woliin nyaatee unee akka inni machowu godhe; galgala ammoo Uriiyaan dhaqee odduu tajaajiltoota gootaa ifii afinaa ifii irra bule malee gara mana ifii hin deenne.

¹⁴ Boruuyyaa ganama Daawiti xalayaa Yo'aabiif barreessee nami Uriiyaa jedhamu akka geessu godhe.

¹⁵ Inni xalayaa san keessatti, «Uriiyaa addee lolli jabaate ergi; achiin duuba lola san keessatti akka inni du'uuf isa lakkisa'aa baqadha'a» jedhee barreesse.

¹⁶ Maarre Yo'aab qachaa yennaa marse, karaa lolli jabaate san Uriiyaa erge.

¹⁷ Namooti qachaa sanii dhufanee Yo'aab woliin yennaa wol lolane, namoota Daawitii keessaa gariin du'ane; Uriiyaan nami biyya Heetiille du'e.

¹⁸ Yo'aab nama ergee oduu lolaa mara Daawititti hime.

¹⁹ Nama Daawititti erge saniin, «Oduu lolaa kana mootichatti hinteen duuba,

²⁰ mootichi aaree bobee, Isin lolaaf maaf akkana gara qacha'aa dhikaattane? Dalleya qacha'aa gubba'aa daaya akka isinitti gad lakkisanu hin beettanuu?

²¹ Ilma Yerru-Besheetii Abiimelek eentu ijjee? Dubartii takkatti dalleya dhaka'aa irraa ilmaachuu daaku'uu darbattee qachaa Tebezitii keessatti isa ijjettee motii? Isin maaf dalleya dhaka'aa sanitti akkana dhikaattane?» jedhee yoo si gaafate, ati deebisiitii, «Tajaajilaan keeti nami biyya Heetii Uriiyaalle du'eera» jedhii itti himi» jedhe.

²² Maarre nami ergame sun dhaqee, yennaa achi geye, ergaa Yo'aabii mara Daawititti hime.

²³ Nami ergame sun Daawitiin, «Diinoti keenna nutti jabaatanee, nu loliisaaf haga diidaa dhufaneeran; nuuti ammoo haga seensuma karra qacha'aa isaan ariinee deebinne.

²⁴ Achiin duuba worri daayaan lolu dalleya dhaka'aa irraa tajaajiltoota teeti irratti daaya gad lakkisanee tajaajiltoota mootichaa keessaa garii ijjeesane; tajaajilaan keeti nami biyya Heetii Uriiyaalle du'eera» jedhe.

²⁵ Daawitille nama ergamee dhufe saniin, «Yo'aabiin, «Lola keessatti eennutti akka du'u dursanee waan hin beenneef, ati tanaan hin gaddiniitii jabaadhu. Hunna teeti jabeeffadhuutii, qachaa san lolii balleessi» jedhii isa jajjabeessi» jedhe.

²⁶ Niitiin Uriiya'aa abbaan manaa isi'ii akka du'e yenna dhageette, gadditee bootte.

²⁷ Yennaan isiin gaddite dabareen duuba, Daawiti nama itti ergee gara mana ifii akka isii fidanu godhe; isiille haadha manaa isaaf teetee ilma isaaf deette; te'uu malee wonni Daawiti godhe kun Mootii Waan Maraa hin gammachiinne.

12

Waaqi Naataan Gara Daawitii Erge

¹ Mootiin Waan Maraa raagicha Naataan gara Daawitii erge; Naataan gara Daawitii dhufee, «Namooti lama qachaa tokko keessa le'anuu jiraniyyuu; isaan keessaa tokkochi dureessa, kuun ammoo hiyyeessa.

² Namichi dureessichi hoole'ee fi hoorii bacaa qaba;

³ hiyyeessichi ammoo ilmee hoole'ee ta bitate takka malee, waan tokkole hin qabu; inni isii san kunuunsee ijoollee isaa woliin guddatte; isiin isa woliin nyaataa unaa bobaa isaa jala bultiyyuu; isiin isaaf akkuma intala isaa ti.

⁴ Guyyaa tokko keessummaan tokko gara mana namicha dureessichaa dhufe; namichi dureessichi sun keessummaa gara isaa dhufe saniif hoolee yookiin hoorii ifii keessaa tokko qalee nyaachisiisa hin barbaanne; garuu ilmee hoole'ee ta namicha hiyyeessa sanii nama keessummaa mana isaa dhufe saniif qalee sagalee qopheesse» jedhe.

⁵ Daawiti namicha sanitti guddoo aaree, Naataaniin, «Dhugaa Mootii Waan Maraa ka jiraataa te'ee! Namichi akkana godhe sun du'uu qaba!

⁶ Inni marartii malee tana waan godheef, addee ilmee hoolee sanii hoolee afur kaffaluu qaba» jedhe.

⁷ Achiin duuba Naataan Daawitiin, «Nami sun si'uma! Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, «Ani akka ati Israa'el irratti mootii teetuuf si muude, harka Saa'olii jalalle'ee si baase;

⁸ mootummaa gootaa keetii si'iif kenneera; niitota gootaa keetille si'iif kenneera; mootii Israa'eliitii fi Yihuda'aa akka teetuufille si godheera; tun adoo si hanqattee jiraatte tana caalaa si'iif hin kennaayyu.

⁹ Ati Uriiyaa nama biyya Heetii, shallaagaa Amoonotaatiin ijjeesisiittee, niitii isaa ifii fuutee, waan hantuu akkanaa Mootii Waan Maraa duratti hujiisaan jecha Mootii Waan Maraa maaf tuffatte ree?

¹⁰ Ati na tuffattee niitii Uriiyaa nama biyya Heetii fuutee niitii keeti godhatteerta; tanaaf haga bara baraa shallaagaan sanyii teeti irraa hin fagaatu» jedha.

¹¹ Mootiin Waan Maraa, «Kunoo ani manuma keeti keessaa badii sitti hin fida; ati adoo dhaggituu niitota teeti si jalaa fuudhee nama fira keeti ka aante'eetiif hin kenna; inni guyyumaan niitota teeti woliin hin rafa.

¹² Ati waan akkanaa dhossa'aan goote; ani ammoo waanuma kana guyyumaan Israa'eloota duratti hin godha» jedha» jedhe.

¹³ Achiin duuba Daawiti Naataaniin, «Ani Mootii Waan Maraa yakkeera» jedhe.

Naataan deebisee, «Mootiin Waan Maraa yakkaa keeti si'iif dhiiseera; ati hin duutu.

¹⁴ Te'uu malee ati tana godhiisaan diinoti Mootii Waan Maraa akka isa tuffatanu waan gooteef, ilmi si'ii dhalate hin du'a» jedhe.

¹⁵ Naataan gara mana ifii deemeen duuba Mootiin Waan Maraa ilma niitiin Uriiyaa Daawitiif deette akka malee akka dhibamu godhe.

¹⁶ Daawiti marroo muca'aatiif laamee Mootii Waan Maraa daadimate; gara kolloo taqee ifii seenee galgala mara lafa rafe.

¹⁷ Jaarsoleen mana isaa keessa jirtu lafaa isa ol kaasiisaaf cinaa isaa dhaabbatte; inni ammoo didate; isaan wolille'een sagalee hin nyaanne.

¹⁸ Guyyaa torbeesso'oo mucaan du'e; tajaajiltooti Daawitii, «Mucaan adoo jiruu waan nuuti isatti hinne Daawiti hin dhageenne; amma mucaan akka du'e attam Daawititti himuu dandeenna ree? Inni ifi miidhuu dande'a» jedhanee mucaan akka du'e Daawititti himuu sodaatane.

¹⁹ Daawiti tajaajiltooti isaa wolitti hasaasaa dubbattuun dhage'e; mucaan akka du'e beekke, «Mucaan du'ee?» jedhee gaafate;

Isaanille, «Eeti'i, du'eera» jedhanee deebisane.

²⁰ Achiin duuba Daawiti lafaa ol ka'ee, dhigatee, iffatee woyaa jijjiirateen duuba, gara Galma Mootii Waan Maraa dhagee Mootii Waan Maraatiif sagade. Achiin duuba gara mana ifii dhagee, sagalee akka isaaf dhikeessanu gaafate; isaan sagalee isaaf dhikeessane; innille nyaate.

²¹ Tajaajiltooti isaa, «Mucaan adoo jiruu laantee isaaf bootte; mucaan du'een duuba kaatee sagalee nyaatte; ati maaf akkana goote?» jettee isa gaafatte.

²² Innille deebisee, «Mucaan adoo jiruu, «Eentu beeka? Mootiin Waan Maraa gadhaa naaf laafee mucaa hin hambura fa'a» jedhee laamee daadi-madhee bowe.

²³ Amma ammoo mucaan eega du'e maaf laama ree? Ani isa deebisee lubbu'uun akka jiraatu godhuu hin dande'aa? Anattuu gara isaa dhaqa malee inni gara kiyya hin deebi'u» jedhe.

Solomoon Dhalate

²⁴ Achiin duuba Daawiti haadha manaa ifii Baat-Sheebaa jajjabeesse; gara isi'ii dhagee isii waliin rafe; isiille ilma deettee, inni maqaa isaa Solomoon baase; Mootiin Waan Maraalle isa jaalate.

²⁵ Mootiin Waan Maraa isa waan jaalateef maqaan muca'aa, «Yidiidiyaa» akka jedhamu karaa raagicha Naataaniitiin jecha erge.

Daawiti Qachaa Raabaa Qabate

²⁶ Yennaa san Yo'aab qachaa Amoonotaa Raabaa lolee, kushee mana mootumma'aa qabate.

²⁷ Achiin duuba Yo'aab gara Daawitii nama ergee, «Ani qachaa Raabaa lolee, addee worri qacha'aa bisaan woraabbatu qabadheera.

²⁸ Ani qachaa qabadhee maqaa kiyyaan akka hin moggaafanne, ati amma loltoota hafane wolitti qabadhuutii qachaa marsii qabadhu» jedhee itti hime.

²⁹ Maarre Daawiti loltoota ifii mara wolitti qabatee, gara qachaa Raabaa duulee lolee qabate.

³⁰ Kallacha mooticha isaanii, ka kiiloogiraama soddonii afur te'e, ka dhakaa gatii guddo'ootiin hujamee seefame, mataa isaa irraa fudhatee mataa ifii irraa keyate; qachaa keessalle'ee waan bacaa booji'e.

³¹ Inni kolbaa achi keessa jirtu gad baasee magaazi'iin, qotto'oo fi agara'aan hujii hunnaa akka hujanu godhe; biyyee faaraa loobanee xuubii

akka hujanu godhe. Inni qachaa Amoonotaa mara keessatti tana huje. Achii duuba Daawitii fi loltooti isaa marti gara Yerusaalemii deebi'ane.

13

Amnoonii Fi Taamaar

¹ Ilmi Daawiti Abiishaalom obboleettii dansittii, «Taamaar» jedhantu qabaayyu; ilmi Daawitii Amnoon isii jaalate.

² Isiin durra banti'ii waan teeteef, Amnoon akka te'ee isii bira gewu waan hin qabaatiniif, jaalala obboleettii ifii Taamaariitiin qabamee guddoo dhibame.

³ Inni jaala, «Yonaadaab» jedhamu tokko qabaayyu; inni ilma Shime'aa obboleessa Daawitii ti; Yonaadaab nama guddoo maltee te'e.

⁴ Inni, «Ee, ilma mootichaa, ati guyyuma guyya'aan maaf huqqata? Natti hin hintuu?» jedhee Amnoon gaafate.

Amnoon deebisee, «Ani jaalala Taamaarii obboleettii obboleessa kiyya Abiishaalomitiin, qabamee ti» jedhe.

⁵ Yonaadaab isaan, «Ati akka dhibantee, taqee irra irkadhu; abbaan keeti si gaafatiisaaf yennaa dhufe, «Obboleettiin tiyya Taamaar dhuttee waan ani nyaadhu naaf kennituu ti; asi na biratti sagalee hujjee qopheessitee harka ifitiin na nyaachittuu ti» jedhiin» jedhe.

⁶ Maarre Amnoon akka dhibamee, taqee ifii irra irkate; mootichi isa gaafatiisaaf yennaa dhufe, inni mootichaan, «Obboleettiin tiyya Taamaar dhuttee, na duratti daabboo bilcheessitee harka ifitii akka na nyaachittu barbaada» jedhe.

⁷ Achiin duuba Daawiti gara mana mootumma'aa Taamaaritti nama ergee, «Gara mana obboleessa keeti Amnoonii dhaqiitii sagalee isaaf qopheessi» jedhe.

⁸ Maarre Taamaar gara mana obboleessi isi'ii Amnoon irkateeruu dhaxxe; bullaa diqqoo fuutee bukeesitee isa duratti daabboo bilcheessite.

⁹ Achiin duuba daabboo bilcheessite san eelee irraa fuutee isaaf dhi-keessite; inni ammoo nyaatiisa didatee, «Nama mara asii gad baasa'a» jedhe; nami martinuu isa biraa gad bayane.

¹⁰ Achiin duuba Amnoon Taamaariin, «Ani harka keeti irraa akka nyaad-huuf sagalee gara kolloo taqee tiyyaa fidi» jedhe; Taamaar daabboo bilcheessite san fuutee gara kolloo taqee obboleessa ifii Amnoonii geessitte.

¹¹ Yennaa isiin sagalee isaaf dhikeessite ammoo isii qabee, «Obboleettii tiyya koy na woliin irkadhu!» jedhe.

¹² Isiin isaan, «Lakkii obboleessa kiyya, na hin salphisin! Wonni akkasii Israa'el keessatti godhamee hin beeku; waan hantuu tana hin godhin!

¹³ Yoo na salphitte, ani maan te'a? Eessa gora? Atille maan teeta? Ati biyya Israa'elii keessatti salphicha hin teeta. Maganne'e mootichatti himadhu; inni akka ani si heerumu hin dhooggu!» jette.

¹⁴ Inni ammoo waan isiin jettu dhage'iisa didee, isii caalaa hunnaamessa waan te'eef, hunnaan isii gurra balleesse.

¹⁵ Achiin duuba Amnoon akka malee isii jibbe; inni haga qara isii jaalate caalaa isii jibbee, «Ka'ii asii gad bayi!» jedhe.

¹⁶ Isiin ammoo, «Lakkii, na manaa baasuun keeti yakkaa na irratti hujje caalaa cubbuu hujja» jette.

Inni ammoo waan isiin jettu dhage'iisa didee,

¹⁷ tajaajilaa ifii tokko waamee, «Dubartii tana asii gad baasiitii balbala itti cufi!» jedhe.

¹⁸ Maarre tajaajilaan isaa sun gad isii baasee balbala itti cufe; isiin yennaa san woyaa durri mootichaa ta banti'ii dur uffattu uffatteertiyyu.

¹⁹ Taamaar daadhaa mataa ifii irratti firfiffattee, woyaa uffatte san tarsaatte; mataa ifii qabattee bowaa deente.

²⁰ Obboleessi isi'ii Abiishaalom isi'in, «Obboleessi keeti sun Amnoon si woliin jiraayyuu? Obboleettii tiyya cadhisi, inni obboleessa keeti waan te'eef, dubbii tana gadhaa keeti keessatti hin qabatin» jedhe; Taamaar salphattee nama irraa adda baatee mana Abiishaalomii obboleessa ifii keessa leete.

²¹ Mootichi Daawiti oduu tana mara yennaa dhage'e, guddoo aare.

²² Abiishaalom sababa Amnoon obboleettii isaa Taamaar salphiseef isa jibbee, waan hantu'uu fi dansaa tokkolle isatti hin dubbanne.

Abiishaalom Amnoon Ijjeese

²³ Woggaa lamaan duuba Abiishaalom qachaa Ba'aal-Hazoorii ka meessaa biyya Efreemii bira jirutti hoolee ifii irraa rifeensa yennaa quxu, ilmaan mootichaa mara achi waame.

²⁴ Abiishaalomille gara mootichaa dhaqee, «Ani tajaajilaan keeti hoolota tiyya irraa rifeensa waan quxuuf, atii fi qondaaltoti maganne'e kowa'a!» jedhe.

²⁵ Mootichi Daawiti ammoo Abiishaalomiin, «Lakkii ilma kiyya, nuuti marti hin dhunnu; nuuti marti yoo dhunne, ba'aa si irratti hin teena» jedhe; Abiishaalom isa jabeessee kadhatulle inni dhaqiisa hin barbaanne; garuu isa eebbisee geegesse.

²⁶ Achiin duuba Abiishaalom, «Ati yoo hin dhaqin, obboleessi kiyya Amnoon nu woliin dhaquu ti!» jedhe.

Mootichi Daawiti, «Inni maaf isin woliin dhaga?» jedhee gaafate.

²⁷ Abiishaalom ammoo jabeessee isa waan kadhateef, mootichi Daawiti ilma ifii Amnoonii fi ilmaan ifii ta dhibii mara Abiishaalom woliin akka deemanu erge.

²⁸ Achiin duuba Abiishaalom tajaajiltoota ifitiin, «Amnoon daadhii woyni'ii unee yennaa machowe, ani isiniin, «Isa dhowa'aatii ijjeesa'a!» hin jedha; anattuu isin ajaje hin sodaatina'a! Jabaadha'a» jedhee ajaje.

²⁹ Maarre tajaajiltooti Abiishaalomii akkuma inni isaan ajaje Amnoon ijjeesane; achiin duuba ilmaan mootichaa marti gaangolee ifii irra teettee baqatte.

³⁰ Isaan karaa irra adoo jiranuu, Daawiti, «Abiishaalom ilmaan mootichaa mara fixe; nami tokkolle hin hanne» oduu jettu dhage'e.

³¹ Mootichi Daawiti ka'ee dhaabbate; gaddee woyaa ifii tarsaasee jige; tajaajiltooti isaalle martinuu gaddanee woyaa ifii tarsaasane isa bira dhaabbatane.

³² Obboleessi Daawitii ilmi Shime'aa Yonaadaab ammoo Daawitiin, «Gootaa kiyya, «Ilmaan tiyya mara ijjeesaneeran» jettee hin yaadin; haga Amnoon obboleettii Abiishaalomii Taamaar gurra balleesseen jalqabee Abiishaalom kutatee waan ka'eef, nami du'e Amnoon calla'a.

³³ Nami du'e Amnoon callaa waan te'eef, goottaan kiyya oduu, «Ilmaan mootichaa mara ijjeesaneeran» jedhanee odeessane hin addatin» jedhe.

³⁴ Yennuma san Abiishaalomille baqate.

Nami qachaa eegu tokko ol yoo ilaalu namooti bacaan karaa gara aduun seentuun cinaa gaaraatii gad bu'anuun dhaggee, «Karaa Horonaayimiitiin namooti bacaan cinaa gaaraatii gad bu'iisatti jiran» jedhee mootichatti hime.

³⁵ Yonaadaab mooticha Daawitiin, «Akkuma ani tajaajilaan keeti jedhe kunoo, ilmaan keeti dhufaneeran» jedhe.

³⁶ Adoo inni dubbatee, hin fixin ilmaan mootichaa wiiccifataa bowaa dhufane; mootichii fi tajaajiltooti isaa marti guddoo wiiccifatanees bowane.

³⁷ Abiishaalom baqatee gara Talmaayii ilma Amiihudii mootii biyya Geshuurii deeme; Daawiti ammoo ilma ifii ka du'e saniif yennaa mara bowa.

³⁸ Abiishaalom baqatee gara biyya Geshuurii dhaqeen duuba, woggaa sad achi tee'e.

³⁹ Mootichi Daawiti gadda ilma ifii ka Amnoonii irraa jajjabaateen duuba, Abiishaalom dharra'e.

14

Abiishaalom Gara Yerusaalemii Deebi'e

¹ Ilmi Zeruyaana deette Yo'aab akka mootichi Daawiti Abiishaalom dharra'eeru beeke.

² Maarre Yo'aab gara qachaa Teqo'aa nama ergee, dubartittii qaroo takka akka fidanu godhee, isi'iin, «Akka nama gadda irra jiruu woyaa gaddaa uffadhu; waan tokkolle hin iffatin; akka dubartii yennaa bacaa nama du'eef gadditeertu fakkaadhu.

³ Achiin duuba gara mootichaa dhaqiitii, dubbii ani sitti himu tana isatti dubbadhu» jedhee waan isiin dubbattu isi'itti hime.

⁴ Dubartiin qachaa Teqo'aa sunille gara mootichaa dhaxxee, ulfinna isaatiif lafatti gad gombifantee, «Ee mooticha, maganne'e na gargaar» jette.

⁵ Mootichille, «Maan rakkatte?» jedhee isii gaafate.

Isiille, «Ani dhugumaan haadha hiyyeessaa ka abbaan manaa irraa du'e.

⁶ Ani tajaajiltuun teeti ilmaan dhiiraa lama qabaayyu; isaan lamaanuu diida keessatti wol lolanee nami isaan wol irraa dhooggu waan hin jirreef, tokkochi kaan dhowee ijjeeese.

⁷ Kunoo amma firri duudiin ana tajaajiltuu teeti irratti ka'ee, «Ilma keeti ka obboleessa ifii ijjeeese san ijjeennee haluu akka baanuuf nutti dabarsii kenni; achiin duuba atille dhaala malee hatta» naan jedhan; isaan ilma kiyya ka anaaf hafe tokkocha ka akka qaantee ibiddaa san na jalaa balleessanee, maqaa yookiin sanyii abbaa manaa kiyyaa lafa irraa hin balleessan» jette.

⁸ Mootichille isi'iin, «Ani marroo haajaa keetii ajaja hin baasa, ati gara mana keetii deemi!» jedhe.

⁹ Dubartiin qachaa Teqo'aa sun ammoo mootichaan, «Ee, gootaa kiyya mooticha, marroo dubbii tanaatiif, anii fi maatiin tiyya itti gaafatannuu ti; atii fi mootummaan teeti itti hin gaafatantanu» jette.

¹⁰ Mootichille isi'iin, «Eennulle waan tokko yoo sitti dubbate, gara kiyya isa fidi; inni deebi'ee si hin rakkisu» jedhe.

¹¹ Isiille, «Worri haluu bawu ilma kiyya ka hafe ijjeesanees badii badii caalte akka hin hunye, mooticha maganne'e, maqaa Mootii Waan Maraa Waaqa keetiitiin naaf kakadhu» jette.

Mootichi deebisee, «Dhugaa Mootii Waan Maraa ka jiraataa te'ee, mataa mucaa keetii irraa rifeensi tokkolle lafa hin bu'u» jedheen.

¹² Achiin duuba dubartittiin, «Ani tajaajiltuun teeti dubbii tokko si mooticha gootaa kiyyatti dubbadha» jette.

Innille deebisee, «Dubbadhu!» jedhe.

¹³ Dubartittiille, «Ati ilmi keeti addee baqatee akka deebi'u waan hin godhiniif, ifi irratti muraa kennitee motii ree? Waan akkasii kolbaa Waaqaa irratti maaf yaadatte?

¹⁴ Akkuma bisaan dhangala'ee deebi'ee hin woraabbanne, nuuti martinuu hin duuna; Mootiin Waan Maraa nami baqatee biyyaa baye, akka isa irraa hin fagaanne karaa inni deebi'u qopheessa malee lubbuu isaa hin balleessu.

¹⁵ Ani amma kolbaan waan na sodaachitteef tana gootaa kiyya mootichatti himiisaaf dhufeera; ani tajaajiltuun teeti, «Waan ani mootichatti dubbadhu inni naaf hin muummessa fa te'a»;

¹⁶ harka worra anaa fi mucaa kiyya dhaala Waaqi nu'uuf kenne irraa nu kaasuu barbaaduu jalaa hin baasa fa te'a» jedhee waan yaadadheef, haajaa kiyya sitti himadheera.

¹⁷ Ani tajaajiltuun teeti ammalle, «Gootaan kiyya mootichi hama'aa fi dansaa gargar baasiisaan, akka ergamaa Waaqaa waan te'eef, dubbiiin gootaa kiyyaa na jajjabeessituu ti» jedhee hin addadha. Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti si woliin jiraatuu ti» jette.

¹⁸ Achiin duuba mootichi dubartitti'iin, «Waan ani si gaafadhu, atille deebii na hin dhossin» jedhe.

Isiille deebittee, «Gootaa kiyya mooticha, waan feete na gaafadhu!» jette.

¹⁹ Mootichille, «Tana mara akka ati dubbattu Yo'aabitti sitti himee?» jedhee isii gaafate.

Dubartittiille deebittee, «Dhugaa lubbuu teeti gootaa kiyya mootichaatiin kakadha, waan ati dubbatte irraa nami gara bita'aa yookiin gara middaa deebi'u hin jiru; eeti'i, tana akka ani godhu, dubbii tana maralle ana tajaajiltuu teetitti nami hime, tajaajilaa keeti Yo'aab.

²⁰ Tajaajilaan keeti Yo'aab haajaa jiru mara jijjiiriisaaf tana godhe; gootaa kiyyaa, ati ammoo qarummaa akka ergamaa Waaqaa waan qadduuf, waan lafa irratti te'u mara hin beetta» jette.

²¹ Mootichille Yo'aabiin, «Guddoo dansa'a! Ani waan ati jette hin godha; dhaqiitii Abiishaalomii dargageessicha san fidi» jedhe.

²² Yo'aab ulfinna mootichaatiif lafatti gad gombifamee, mooticha eebbise; Yo'aab ammalle, «Gootaa kiyya, ati kadhaa tajaajilaa keetii waan dhageetteef, ani tajaajilaan keeti si duratti fudhatama akka dhaggadhe adha beeke» jedhe.

²³ Achiin duuba Yo'aab gara biyya Geshuurii dhaqee, Abiishaalom deebisee gara Yerusaalemii fide.

²⁴ Mootichi ammoo, «Inni gara mana ifii dhaquutii malee ani ila tiyyaan isa hin dhaggin» jedhe; maarre Abiishaalom gara mana ifii deeme malee ila mootichaa hin dhaggine.

Abiishaalom Abbaa Ifii Daawiti Araarfate

²⁵ Israa'eloota mara keessatti nami akka Abiishaalomii miidhagu hin jiruyyu; rifeensa mata'aatii haga faana miilaa komii hin qabu.

²⁶ Rifeensi mataa isaa yennaa isatti ulfaate wogga'atti yennaa tokko quxataayyu; rifeensi mataa isaa ka quxame yennaa madaalamu gara kiiloogiraama lamaa ol te'a.

²⁷ Abiishaalom ilmaan sadii fi intala durra takka ta, «Taamaar» jedhantu uumate; isiin intala guddoo miidhaddu.

²⁸ Abiishaalom ila mootichaa adoo hin dhaggin, woggaa lama Yerusaalem keessa le'e.

²⁹ Achiin duuba Abiishaalom gara mootichaa isa ergatiisaaf, nama itti ergee Yo'aab waansise; Yo'aab ammoo gara isaa dhufiisa didate; maarre Abiishaalom ammalle nama itti erge; Yo'aab ammalle dhufiisa didate.

³⁰ Achiin duuba Abiishaalom tajaajiltoota ifiitiin, «Kunoo, fichaan Yo'aabii fichaa kiyyatti aanee jira; inni fichaa ifii keessaa garbuu waan qabuuf dhaqa'aatii ibidda itti naqa'a» jedhe; maarre tajaajiltooti Abiishaalomii fichaa Yo'aabiititti ibidda naqane.

³¹ Achiin duuba Yo'aab gara mana Abiishaalomii dhagee, «Tajaajiltooti teeti fichaa kiyyatti maaf ibidda naqane?» jedhee gaafate.

³² Abiishaalom Yo'aabiin, «Kunoo, ani akka ati mooticha bira naaf dhaxxee, «Ani Geshuurii maaf dhufe? Haga ammaa adoo achuma jiraadhee naaf woyya jedheera» jettee akka isatti hintuuf nama sitti ergadhe; ani amma ila mootichaa dhagguu barbaada; yakkaa yoo qabaadhe inni na ijjeesuu ti!» jedhe.

³³ Maarre Yo'aab gara mootichaa dhagee tanuma isatti hime; achiin duuba mootichi Abiishaalom waansise; innille dhufee mooticha duratti lafatti gad gombifame; mootichille Abiishaalom sunqate.

15

Abiishaalom Finqiliisaaf Mala Dhowate

¹ Kanaan duuba Abiishaalom garreettaa fardaan harkifamuu fi fardoo, namoota shantama isaan dura fiiganu qopheeffate.

² Abiishaalom ganama ka'ee karaa gara seensuma karra qacha'aa geessu cinaa dhaabbataayyu; eennulle nami haajaa qabu haajaa ifitiif mura dhagatiisaaf gara mootichaa yennaa dhufu mara, Abiishaalom nama san waamee, «Ati qachaa kamii dhutte?» jedhee gaafata; nami sunille, «Ani tajaajilaan keeti gosa Israa'elii tokko keessaa dhufe» jedhee deebisa.

³ Achiin duuba Abiishaalom nama saniin, «Ilaa, haajaan keeti dhuga'a; sirri'ille'e, te'uu malee nami bakka bu'aa mootichaa te'ee haajaa keeti si'iif ilaalu hin jiru» jedha.

⁴ Abiishaalom itti dabalee, «Ani biyya irratti abbaa mura'aa adoo te'ee jiraadhee, nami haajaa qabu marti gara kiyya yennaa dhufe, ani mura haqaa hin kennaayyu» jedha

⁵ Nami isa bira geyee yennaa isaaf gad lafatti gombifamu, Abiishaalom harka ifii diriirsee qabee, hin sunqataayyu.

⁶ Abiishaalom Israa'eloota mura haqaa dhagatiisaaf gara mootichaa dhufanu maraaf tana godhee, Israa'eloota mara gara ifii deebifate.

⁷ Woggaa afuriin duuba Abiishaalom mootichaan, «Waadaa Mootii Waan Maraatiif gale geessiisaaf gara qachaa Kebroonii akka dhaqu naaf eeyyam!

⁸ Ani tajaajilaan keeti biyya Sooriya'aa qachaa Geshuurii keessa yennaa jiru, «Mootiin Waan Mara gara Yerusaalemii yoo na deebise, ani Kebroonitti isaaf hin sagada» jedhee waadaa galeera» jedhe.

⁹ Mootichille isaan, «Nageyaan dhaqi» jedhe; maarre Abiishaalom gara qachaa Kebroonii dhage.

¹⁰ Achiin duuba Abiishaalom, «Isin qoonqoo tultulla'aa akkuma dhageet-taneen, «Abiishaalom qachaa Kebroonitti mootii te'eera» jedha'a!» jedhee ergantoota dhossa'aa gara gosa Israa'elii mara erge.

¹¹ Yerusaalem keessaa namooti dhibbi lama Abiishaalom woliin deemane; isaan akka keessummumma'aatitti waamamanee, qajeelumma'aan deemanee malee marroo haajaa tanaa waan tokkolle hin beekanuuyyu.

¹² Abiishaalom ciincaa dhikeessiisatti adoo jiruu, Ahiitofel nami biyya Giloo ka Daawitiif gorsa kennutti gara isaa akka dhufuuf nama isatti erge; maarre malli Abiishaalom dhowe jabaatee, namooti isa gula deemanu ituma bacatane.

Daawiti Yerusaalem Keessaa Baqate

¹³ Ergamaan tokko dhufee, «Israa'elooti marti gara Abiishaalomii deebi'aneeran» jedhee Daawititti hime.

¹⁴ Achiin duuba Daawiti bulchitoota ifii ta isa waliin Yerusaaalem keessa jiranu maraan, «Nami tokkolle Abiishaalom jalaa bawuu waan hin dandeenneef, kowa'a hin baqanna! Ammumaa asii bawuu qanna; inni ariifatee dhufe yoo nu qabe, nu hin balleessa; namoota qachaa keessa jiranulle shallaaga'aan hin fixa» jedhe.

¹⁵ Bulchitooti mootichaalle deebisane, «Nuuti tajaajiltooti teeti waan ati goottaan keenna filatte mara godhiisaaf qophoonneerra» jedhane

¹⁶ Mootichi Daawiti mana mootumma'aa akka eeganuuf gursumeeyyii kudhan lakkisee, maatii ifii maraa fudhatee baqate.

¹⁷ Maarre mootichi namoota isa waliin jiranu mara waliin bayee deeme; haga diqqoo fagaatanee deemanee duuba, mana dhuma irra jiru tokko bira dhaabbatane.

¹⁸ Qondaaltoti isaa martinuu, Keretootii fi Pheletooti, worri qachaa Gaatii keessaa isa gula dhufanelle, namooti dhibbi jaa hiriirane mootichaan dura dabarane.

¹⁹ Mootichi Daawiti nama biyya Gaatii Iitaayiin, «Ati maaf nu waliin deenta? Ati nama ormaa ka biyya keetii ari'antee dhutte; Deebi'itii Abiishaalomii mooticha waliin turi!

²⁰ Ati kalee dhutte; ani ifiifuu eessa akka deemaa jiru hin beeku; attamiin akka ati nu waliin joonjitu godha ree? Namoota keeti ta si gula jiranu waliinuu deebi'i; jaalalli bara baraatii fi addatamummaan si waliin jiraatanu» jedhe.

²¹ Iitaayi ammoo deebisee mootichaan, «Dhugaa Mootii Waan Maraa ka jiraataa te'ee! Lubbuu teetiin kakadha! Du'aa fi jiruulle'een addee maratti waan goottaan kiyya te'u mara, ani tajaajilaan keetille hin te'a» jedhe.

²² Daawitille Iitaayiin, «Dansa'a! Naan dura deem» jedhe; maarre Iitaayi nami biyya Gaatii, namoota ifii maraa fi maatii ifii ta isa waliin jiranu waliin deeme.

²³ Kolbaan marti yennaa dabaranu, namooti biyya sanii marti iyyanee bowane; mootichille dhooqa Qedroonii gamatti bu'ee baye; kolbaan marti gama buutee baatee goomolee keessa deente.

²⁴ Hayyichi Zaadoq, Lewwoota Saanduqa Gondooro'oo Ka Mootii Waan Maraa ba'ataneeranu mara waliin achi jiraayyu; isaan Saanduqa Gondooro'oo Ka Mootii Waan Maraa lafa keyane; hayyichi Abiyaataar kolbaan marti qachaa keessaa haga baatu ciincaa dhikeesse.

²⁵ Achiin duuba mootichi, hayyicha Zaadoqiin, «Saanduqa Gondooro'oo ka Mootii Waan Maraa gara qacha'aa deebisi; ani Mootii Waan Maraa duratti fudhatama yoo qabadhe, inni na deebisee Saanduqa Gondooro'ootii fi addee leetoo ifii san ammalle akka ani dhaggu hin godha.

²⁶ Garuu inni, «Ani sitti hin gammanne» yoo jedhe, waan fedhe na irratti godhuu ti; anille fudhatiisaaf qophoweera» jedhe.

²⁷ Mootichi ammalle hayyicha Zaadoqiin, «Ati nama akka malee woy dooyuu motii? Ati ilma keeti Ahimaazii fi ilma Abiyaataarii Yonaataan waliin gara qacha'aa nageyaan deebi'i. Atii fi Abiyaataar ilmaan teessan lamaan san fudhadha'aatii deema'a.

²⁸ Ani oduu haga si irraa dhage'utti malkaa laga goomolee keessa jiruu bira tura» jedhe.

²⁹ Maarre Zaadoqiin fi Abiyaataar Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa fuudhane gara Yerusaaalemii deebi'anee achuma turane.

³⁰ Daawiti ammoo mataa hagooggatee bowaa miila duwwaa gara gaara ejersaa ol baye; kolbaan isa waliin jirtulle martinuu mataa hagooggatee bowaa ol baate.

³¹ Achiin duuba, «Ahiitofel worra Abiishaalom woliin mala dhowe keessa jira» jedhanee Daawititti himane; maarre Daawiti, «Ee, Mootii Waan Maraa mala Ahiitofel dhowe san bu'aa akka hin qabaanne godhi» jedhee daadimate.

³² Daawiti qaccee kooba namooti Waaga waaqonsanuu yennaa geye, Hushaayi nami biyya Arkii woyaa ifii ta gaddaa tarsaasee, bukuu mataa ifii irratti firfirsee isa fudhatiisaaf dhufe.

³³ Daawiti isaan, «Ati na woliin yoo deente ba'aa natti teeta;

³⁴ garuu gara qacha'aa deebitee Abiishaalomiin, «Ee mooticha, ani tajaajilaa keeti si'iif hin te'a; ani kanaan qara tajaajilaa abbaa keetii te'eeraayyu; amma ammoo si hin tajaajila» yoo jette, mala Ahiitofel dhowe akka bu'aa hin qabaanne godhiisaan na hin gargaarta.

³⁵ Hayyooti Zaadoqii fi Abiyaataar si woliin achi waan jiranuuf ati waan mana mootummaa'aa keessatti dhageette mara isaanitti himi.

³⁶ Ilmi Zaadoqii Ahimaazii fi ilmi Abiyaataarii Yonaataan lamaanuu isaan woliin achi jiran; waan dhageette mara karaa isaaniitiin natti ergi» jedhe.

³⁷ Maarre Hushaayi jaalli Daawitii yennuma Abiishaalom qachaa Yersaaleemii seene, innille achi geye.

16

Daawitii Fi Ziibaa

¹ Daawiti qaccee gaaraa irra haga diqqoo yennaa deeme, Ziibaan tajaajilaan Mefii-Bosheetii daabboo dhibba lama, xaltaa midhaan woyni'ii dhibba tokko, xaltaa midhaan harru'uu dhibba tokko fi daadhii woyni'ii qalqalluu tokko harreelee lamatti fe'ee, isa fudhatiisaaf dhufe.

² Mootichi Daawiti, «Kana mara maaf fidde?» jedhee Ziibaa gaafate.

Ziibaan deebisee, «Harreelee, maatiin mootichaa akka irra teettuuf, daabboo, midhaan harru'uutii fi woyni'ii dargaggooti akka nyaatanuuf, daadhii woyni'ii worri goomolee keessatti dadhabe akka unanuuf fide» jedhe.

³ Achiin duuba Mootichi, «Akaakoon* gootaa keetii eessa jira?» jedhee gaafate.

Ziibaan deebisee, «Inni, «Kolbaan Israa'elii mootummaa akaakoo kiyyaa adha deebisane naaf hin kennan» jedhee waan hedeef, Yersaaleem keessatti hafeera» jedhe.

⁴ Achiin duuba mootichi Ziiba'aan, «Kunoo, wonni Mefii-Bosheet qabu marti keeti» jedhe.

Ziibaan ulfinna mootichaatiif gad gombifamee, «Ee gootaa kiyya mooticha, ulfaadhu! Anummaan si duratti fudhatama dhaggadhuu ti» jedhe.

Shime'i Daawiti Abaare

⁵ Mootichi Daawiti qachaa Bahuriimii yennaa geye, sanyii Saa'olii keessaa ilmi Geraa Shime'i dhufe; inni Daawiti abaaraa gad baye.

⁶ Loltootii fi eeddooti mootichaa marti bita'aa fi midda Mooticha Daawitii jiraatanulle, inni Daawitii fi qondaaltota isaatitti dhakaa qolaanse.

⁷ Shime'i yennaa Daawiti abaaru, «Ati nama dhiigaa! Ati nama hama'a asii bayi; asii bayi!

⁸ Dhiiga ati mana Saa'olii keessatti dhangalaatte maraaf, ta ati addee isaatitti mootii teeteef, Mootiin Waan Maraa haluu si bayiisatti jira; Mootiin Waan Maraa mootummaa teeti ilma keeti Abiishaalomitti dabarsee kenneera; ati nama dhiigaa waan teeteef, kunoo wonni hantuun sitti dhufiisatti jirti!» jedhe.

* 16:3 Akaakoo: Akaakoon kun ilma ilma isaa ti.

⁹ Achiin duuba ilmi Zeruyaa Abiishaayi mootichaan, «Sareen du'e kun attam gootaa kiyya mooticha abaara? Ani dhaqee mataa isaa isa irraa kuta» jedhe.

¹⁰ Mootichi ammoo, «Isin ilmaan Zeruyaana deette, maanti dubbii tiyya keessa isin galche? Mootiin Waan Maraa namichaan, «Daawiti abaar» jedheen yoo abaaraa jiraate, «Ati maaf tana goota?» jedhee eentu isa gaafatiisa dande'a?» jedhe.

¹¹ Achiin duuba Daawiti Abiishaayii fi qondaaltota isaa maraan, «Ilmi kiyya ka ani uumadhe na ijjeesiisaaf eega barbaade, Beniyaamichi kun attam irra caalaa na ijjeesiisaaf hin barbaadin ree? Maarre Mootiin Waan Maraa isatti waan dubbateef abaaruu ti lakkisa'a!

¹² Mootiin Waan Maraa rakkinna kiyya dhaggee addee abaaramiisa kiyyaa adha waan dansaa naaf godha fa te'a» jedhe.

¹³ Maarre Daawitii fi namooti isaa karaa ifi ideemane; Shime'i dhakaa itti qolaansaa, bukuu itti bittinneessaa, isa abaaraa kooba cinaa isaa irra ideemaayyu.

¹⁴ Mootichii fi namooti isa woliin jiranu marti addee dhaqiisaaf hedane geyanee, guddoo waan dadhabaneef achitti foorfatane.

Gorsa Ahiitofeliitii Fi Hushaayii

¹⁵ Yennuma san Abiishaalomii fi namooti Israa'elii marti gara Yersaaleemii dhufane; Ahiitofeliille isa woliin jiraayyu.

¹⁶ Achiin duuba jaalli Daawitii Hushaayiin Arkaa'ichi gara Abiishaalomii dhaqee, «Ee, mooti'i bara dheeraa le'i! Ee, mooti'i bara dheeraa le'i!» jedhe.

¹⁷ Abiishaalomille, Hushaayiin, «Addatamummaan ati jaala keetiif qaddu haguma kanaa? Ati maaf jaala keeti woliin hin deemin?» jedhee gaafate.

¹⁸ Hushaayiille Abiishaalomiin, «Lakkii! Ani nama Mootiin Waan Maraa, kolbaan tunii fi namooti Israa'elii marti filatanee ka isaa hin te'a; isa woliille'een hin le'a;

¹⁹ ani eega ilma gootaa kiyyaa hin tajaajilin eennu tajaajila? Akkuma abbaa keeti tajaajile sille hin tajaajila» jedhe.

²⁰ Achiin duuba Abiishaalom Ahiitofeliin, «Me, nutti gorsi; maan godhuu qanna?» jedhe.

²¹ Ahiitofel Abiishaalomiin, «Gara gursumeeyyii abbaa keetii ka inni mana mootumma'aa akka eeganuuf asitti lakkisee dhaqiitii isaan woliin rafi; achiin duuba Israa'elooti marti akka ati abbaa keeti jibbite hin dhageetti; worri si woliin jirulle hunnaameyyii hin te'an» jedhee gorse.

²² Maarre heellichoo manaa gubba'atti Abiishaalomiif dunkaanii dhaabane, inni achitti Israa'eloota mara duratti gursumeeyyii abbaa ifi woliin rafe.

²³ Bara san gorsi Abiishaalom kennu marti akka nama jecha Waaqaa gaafatee fakkaata; akka kanaan Daawitii fi Abiishaalom gorsa Ahiitofelii fudhataniyyu.

17

Hushaayi Abiishaalom dokonkorse

¹ Ahiitofel Abiishaalomiin, «Nama kuma kudhanii lama filadhee, galgaluma adhaa Daawiti ari'a.

² Inni dadhabee addii kutatee adoo jiruu, isa lolee bararassa; achiin duuba namooti isa woliin jiranu isa biraa hin baqatan; ani mootichi callaan qofi hafeeruun isa ijjeesee,

³ kolbaa mara gara keeti hin deebisa; duuti nama tokkoo ka ati barbaad-duu, nami marti akka deebi'u hin gooti; kolbaan marti nageyaan hin leeti» jedhe.

⁴ Gorsii isaa kun Abiishaalomii fi jaarsolee Israa'elii mara gammachiise.

⁵ Abiishaalom ammoo, «Waan Hushaayiin Arkaa'ichi jedhu dhageennaatii, me isa waama'a» jedhe.

⁶ Hushaayi gara Abiishaalomii yennaa dhufe, Abiishaalom isaan, «Ahiitofel gorsa kana dhikeesseera; waan inni jedhe kana hin goonaa ree? Waawwo'o yoo jette yaada keeti nutti himi» jedhe.

⁷ Hushaayi deebisee Abiishaalomiin, «Gorsii Ahiitofel kenne yennaa kana dansa'aa moti.

⁸ Abbaan keetii fi namooti isaa worra lolaan beekkamane; worra akka doobbaa ilmee jalaa fuudhanee nama sodaachisuu akka te'ane hin beetta; abbaan keeti nama lola akka dansaa barateeru; inni loltoota waliin hin bulu.

⁹ Inni ammaayyuu goda keessa yookiin addee dhibii dhokateera fa te'a; inni gara lolee, nama keeti keessaa nami yoo du'e, nami tana dhage'e marti, «Loltooti Abiishaalomii marti dhumataneeran» jedhanee hin odeessan.

¹⁰ Abbaan keeti nama lolaan jannaa, namooti isa waliin jiranulle worra janna akka te'ane, Israa'elooti marti waan beekanuuf, nami janni lolaan beekkame ka gadhaan isaa akka gadhaa neenqaatuu isa sodaatee hin sheep-hisa.

¹¹ Maarre, gorsii ani sitti gorsu ka asii gad jiru kana: Israa'elooti marti ka Daan irraa jalqaddee haga Bersheeba'aa jirtu ka laakkossi isaanii akka maansa abbaaya'aa si biratti wolitti qabamaneeranuun, atuu isaan soressii isaan waliin duuli.

¹² Achiin duuba nuuti addee inni dhaggamuu maratti isa hin lolla; akkuma fixeensi lafatti bu'u isa irratti hin buuna; innii fi namooti isaalle tokkolle lubbu'uun hin hafanu.

¹³ Inni gara qachaa tokkoo yoo baqatelle, Israa'elooti marti wodaroo finnee, dhakaan tokkolle adoo hin hafin qachaa san gad harkinnee dhooqa keessa hin buunna» jedhe.

¹⁴ Abiishaalomii fi Israa'elooti marti, «Gorsa Ahiitofelii caalaa gorsa Hushaayii Arkaa'ichaa woyya!» jedhane. Mootiin Waan Maraa Abiishaalom irratti badii buusiisaaf jedhee gorsii dansaan Ahiitofelii akka hin fudhatanne godhe.

¹⁵ Hushaayi gorsa Ahiitofel Abiishaalomii fi jaarsolee Israa'elii gorsee fi gorsa innille ifiif isaan gorse hayyoota Zaadoqii fi Abiyaataritti hime.

¹⁶ Itti dabalee, «Amma ariiti'iin Daawititti nama erga'aatii, «Ariiti'iin laga Yordaanosii bu'ii gamatti bayi malee, malkaa gara goomole'ee geessu hin bulin; yoo akkas hin godhin ati mootichii fi namooti si waliin jiranu marti hin liqinfantan» jedha'aa Daawititti hima'a!» jedhe.

¹⁷ Yonaataanii fi Ahimaaz gara qacha'aa yennaa seenanu nami akka isaan dhaggu waan hin barbaanneef, madda, «En-Rogeel» jedhamu bira turan; intalti tajaajiltuun takka achi dhaqaa waan mara isaanitti yennaa hintu, isaanille dhaqanee tanuma mooticha Daawititti himaniyyu.

¹⁸ Dargaggeessi tokko ammoo isaan dhaggee, Abiishaalomitti hime; maarre isaan lamaanuu ariiti'iin ka'anee gara qachaa Bahuriimii dhaqanee, mana nama tokkootitti gorane; namichi sun badhinna dalleya ifii keessatti boolla bisaanii waan qabuuf, isaan achi keessa gad bu'ane.

¹⁹ Haati manaa ta namicha sanii afaan boolla sanii gollitee midhaan irratti atte; nami tokkolle marroo waan kanaa hin beenne.

²⁰ Tajaajiltooti Abiishaalomii gara mana sanii dubartittii bira dhufanee, «Ahimaazii fi Yonaataan eessa jiran?» jedhanee gaafatane.

Dubartittiin sunille deebittee isaaniin, «Isaan laga kanaan gama bu'anee bayaneeran» jette; tajaajiltooti sunille isaan barbaadane waan dhabaneef gara Yersaaleemii deebi'ane.

²¹ Namooti sun deemaneen duuba, Ahimaazii fi Yonaataan boolla bisaanii san keessaa bayanee, gara mooticha Daawitii dhaqanee, «Ahiitofel si loliisaaf mala waan dhoweef, ka'iitii ariiti'in laga kanaan gamatti bu'ii bayi» jedhane.

²² Maarre Daawitii fi namooti isa woliin jiranu marti ka'anee, laga Yordaanosii gamatti bu'anee bayane; haga latti bariitu nami Yordaanosiin gamatti bu'ee hin bayin hafe tokkolle hin jiru.

²³ Ahiitofel gorsi isaa akka hin fudhatanne yennaa dhagge, harree ifii fe'atee gara qacha'aa ka manni isaa keessa jiruu san deeme; mana ifii sirreesseen duuba, suruurraa ifitti keyatee du'e; maarre inni du'ee addee awwaala abbaa ifii keessatti awwaalame.

²⁴ Abiishaalomii fi Israa'elooti marti laga Yordaanosii gamatti bu'anee yennaa bayane, Daawiti qachaa Mahanaayaa geyeeraayyu.

²⁵ Abiishaalom addee Yo'aabiititti, Amaasaa ajajaa loltootaa godhee file; Amaasaan ilma Yeterii Israa'elichaa ti; Yeter intala Naa'ashii Abigaayi fuudheeraayyu; isiin obboleettii Zeruyaa haadha Yo'aabii ti.

²⁶ Israa'elootii fi Abiishaalom biyya Giil'aadii keessa qubatane.

²⁷ Daawiti qachaa Mahanaayimii yennaa geye, ilmi Naa'ashii Shob ka qachaa Amoonotaa Raabaa keessaa dhufe, ilmi Amii'elii Maakiir ka qachaa Lodebaariitii dhufee fi Baarzilaayin Giil'aadichi ka qachaa Rogeeliimiitii dhufe isa fudhatane.

²⁸ Isaan waan irra rafanu, gorii, meya faara irra hujame, qamadii, garbuu, bullaa, akumm'ee, baaqelaa fi misira,

²⁹ damma, itittuu, hoole'ee fi baaduu Daawitii fi namoota isaatii fidane; isaan, «Kolbaan goomolee keessatti beelotteerti; dadhaddeerti; dheebotteerti» jedhanee waan kana fidane.

18

Du'a Abiishaalomii

¹ Daawiti namoota isa woliin jiranu laakkowee, ajajaa kumaatii fi ajajaa dhibbaa isaaniif file.

² Daawiti loltoota harka sad keessaa harka tokko irratti Yo'aab ajajaa godhee, harka sad keessaa harka tokko irratti obboleessa Yo'aabii ka Zeruyaani deette Abiishaayi ajajaa godhee, harka sad keessaa harka tokko irratti Iitaayii nama biyya Gaatii ajajaa godhee erge; mootichille loltootaan, «Anille dhugumaan isin woliin hin duula» jedhe.

³ Namooti ammoo isaan, «Ati hin duulin; nuuti yoo baqanne, isaan nu woyitti hin laakkowanu; nu keessaa gamisi yoo du'elle, isaan woyitti hin laakkowanu; ati nu namoota kana kuma caalta; tanaaf ati qachaa keessa jiraattee yoo nu qarqaarte woyya» jedhane.

⁴ Mootichi deebisee isaaniin, «Ani waan isinitti toltee mudhatte hin godha» jedhe; maarre namooti dhibba dhibbaa fi kuma kumaan yennaa hiriirane bayanu, mootichi balbala karraa bira dhaabbateeraayyu.

⁵ Mootichille Yo'aab, Abiishaayii fi Iitaayiin, «Anaaf jedha'aatii Abiishaalomii dargaggicha harka irra qaba» jedhee ajaje; mootichi marroo ilma ifii Abiishaalomii fi ajajjoota tokko tokkoofuu ajaja yennaa kennu, loltooti marti dhageette.

⁶ Loltooti Daawitii, Israa'eloota Abiishaalom woliin jiranu loliisaaf duulane, gongomaa Efreemii keessatti wol lolane.

⁷ Achitti loltooti Daawitii loltoota Israa'elii injifatte; lolli guyyaa sanii jabaa waan te'eef, nami kum diddam dhumate.

⁸ Lolli sun biyya mara dhaqqabee guyyaa san namoota lola keessatti dhumatane irra ka gongomaa keessatti dhumatanetti caala.

⁹ Abiishaalomii fi loltooti Daawitii dedhuma wolitti bayane; Abiishaalom gaangee irraa te'ee deemiisatti waan jiruuf, gaangeen gongomaa ciggaa keessaa muka guddaa tokko jalaan adoo dabartuu, mataan Abiishaalomii muka qabame; gaangeen inni irra tee'e muka san jalaan yennaa dabartu, Abiishaalom rarra'ee hafe.

¹⁰ Nami tokko tana yennaa dhagge, «Kunoo, Abiishaalom muka irratti rarra'eeruun dhagge» jedhee Yo'aabitti hime.

¹¹ Yo'aab nama oduu tana isatti himeen, «Maan jette? Isa dhaggitee? Maaf achumatti lafatti isa gad buuttee hin ijjeesin? Silaa ani meetii gara giraama dhibba tokkoo fi kudhanii shaniitii fi hiituu loltootaa si badhaasaayyu» jedhe.

¹² Namichi ammoo deebisee, «Mootichi adoo nuuti dhageennuu, «Dargaggeessichi Abiishaalom akka hin miidhanne naaf jedha'aatii harka irra qaba'a» jedhee si'i, Abiishaayii fi Iitaayi waan ajajeef, adoo ati meetii gara kiiloogiraama kudha tokkoo harkatti naaf kennitelle'e, ani ilma mootichaa hin ijjeesu.

¹³ Ani adoo isa ijjeesee jiraadhee, mooticha wonni dhokatu waan hin jirreef, atinuu natti hin dhiyaattuuyyu» jedhe.

¹⁴ Yo'aabille, «Ani tanaaf si hin eegu» jedhee, eboo sad qabatee dhagee, Abiishaalom muka irratti rarra'ee lubbu'uun adoo jiruu gadhaa isaa woraane.

¹⁵ Namooti dargaggooti kudhan ka Yo'aabiif meya lolaa ba'atanu, Abiishaalom marsanee woraananee ijjeesane.

¹⁶ Achiin duuba Yo'aab lolli akka qabbanowuuf tultullaa afuussise; loltootille Israa'eloota ari'iisa lakkisane.

¹⁷ Isaan reeffa Abiishaalomii fuudhanee, boolla guddoo gongomaa keessa jirtu keessa qolaansanee, dhakaa gugurdaa isa irratti tuulane; yennuma san Israa'elooti marti gara mana mana ifii baqatane.

¹⁸ Abiishaalom, «Ilma maqaa kiyya waansisu hin qabu» jedhee waan yaadeef, adoo lubbu'uun jiruu, addee, «Dhooqa mootichaa» jedhanutti maqaa ifitiin soodduu waan dhaabeef, haga adhaa «Soodduu Abiishaalomii» jedhamee waamama.

Du'a Abiishaalomii Daawititti himane

¹⁹ Achiin duuba Ilmi Zaadoqii Ahimaaz, «Mootiin Waan Maraa harka diinotaa jalaa isa waan baaseef, fiigee dhagee oduu gammadaa tana mootichatti hima» jedhe.

²⁰ Yo'aabille isaan, «Ilmi mootichaa waan du'eef, oduu gammadaa tana guyyaa dhibii himi malee adha itti hin himin» jedhe.

²¹ Achiin duuba Yo'aab nama biyya Itoophiya'aa* tokkoon, «Dhaqiitii waan dhaggite mara mootichatti himi» jedhe; nami biyya Itoophiya'aa sunille Yo'aab duratti fuulaan lafatti gad gombifameen duuba ka'ee fiige.

²² Ilmi Zaadoqii Ahimaaz ammalle Yo'aabiin, «Wonni feete dhuttuutii, maganne'ee nama biyya Itoophiya'aa kana gula fiiguu?» jedhe.

Yo'aab ammoo deebisee, «Ilma kiyya, ati oduu gammada hintee ta badhaasa dhaggattu hin qaddu, maaf deemiisa barbaadda?» jedhe.

* **18:21** Nama biyya Itoophiya'aa: Afaan Ibrootaatiin nama biyya Kuushii jedha.

²³ Ahimaaz, «Wonni feete dhuttuutii ani hin fiiga» jedhe;

Maarre Yo'aab, «Fiigi lam!» jedheen; achiin duuba Ahimaaz karaa dhooqa Yordaanosii fiigee, nama biyya Itoophiya'aa san dura taree deeme.

²⁴ Daawiti karra qachaa sanii ta gara keessaatii fi ta gara alaa wodhakkaa te'ee adoo jiruu, eeddichi tokko karaa dalleyaatiin gara heellichoo karaa karra qacha'aa jirtuu ol bayee gara alaa yoo ilaalu, namichi tokko qofii ifii fiiguun dhagge.

²⁵ Eeddichi sun mooticha waamee itti hime; mootichille, «Inni qofii ifii yoo jiraatee, oduu gammadaa qaba» jedhe; namichille isaanitti dhiyaataa dhufe.

²⁶ Achiin duuba eeddichi nama dhibii fiigaa dhufu dhaggee, eeddicha karraa waamee, «Kunoo ammalle nami tokko qofii ifii fiigaa dhufiisatti jira» jedhe.

Mootichi deebisee, «Kunille oduu gammadaa qaba» jedhe.

²⁷ Eeddichi sun, «Fiigichi namaa duraa, ilma Zaadoqii Ahimaaz fakkaata» jedhe.

Mootichille, «Inni nama dansa'a! Oduu gammadaa fidee dhufiisatti jira» jedhe.

²⁸ Ahimaaz iyyee mooticha waamee, «Wonni marti si'iif teeteerti!» jedhee, mooticha duratti lafatti gad gombifamee, «Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti ka worra si gootaa kiyya mooticha irratti ka'ane dabarsee kenne leellifamuu ti!» jedhe.

²⁹ Mootichille, «Dargaggeessi Abiishaalom fayya'aa?» jedhee isa gaafate.

Ahimaaz deebisee, «Yo'aab tajaajilaa mootichaatii fi ana yennaa ergu, hogaa guddaa tokko dhage'eera; ammoo maan akka te'e hin beeku» jedhe.

³⁰ Mootichille, «Me, achi dabarii dhaabbadhu!» jedhe; Ahimaazille dabaree dhaabbate.

³¹ Achiin duuba nami biyya Itoophiya'aa sun dhufee, «Gootaa kiyya mooticha, oduu gammadaa dhage'i! Mootiin Waan Maraa diinota si irratti ka'ane jalaa si baaseera!» jedhe.

³² Mootichille nama biyya Itoophiya'aa saniin, «Dargaggeessichi Abiishaalom fayya'aa?» jedhee gaafate.

Nami biyya Itoophiya'aa sun deebisee, «Diinoti gootaa kiyya mootichaatii fi worri si irratti ka'u marti akka dargaggeessicha sanii te'anuu ti» jedhe.

³³ Mootichille rifatee hollate; kolloo karra gubbaa jirtu gubbaa bayee bowe; akkuma ol bayeen, «Aannee, ilma kiyya Abiishaalom! Ilma kiyya, ilma kiyya Abiishaalom! Ani addee teeti adoo du'ee jiraadhee! Aannee Abiishaalom, ilma kiyya, ilma kiyya!» jedhe.

19

Yo'aab Daawitiif Gorsa Kenne

¹ «Mootichi Daawiti ilma ifii Abiishaalomiif bowaa gaddiisatti jira» jedhaanee Yo'aabitti himane.

² Guyyaa san, «Mootichi ilma ifitiif gaddeera» oduu jettu loltooti waan dhageetteef, injifachaan guyyaa sanii loltoota duudii biratti gara gaddaa jijjiirame.

³ Akka loltooti lola keessaa baqatte, fokkifattee dhokattee galtuu, guyyaa san kolbaan dhokattee gara qacha'aa deebitee galte.

⁴ Mootichi fuula ifii hagooggatee, «Aannee ilma kiyya Abisaalom! Aannee Abiishaalom! Ilma kiyya! Ilma kiyya!» jedhee iyyee bowe.

⁵ Achiin duuba Yo'aab gara mana mootichaa dhufee, «Ati adha namoota lubbuu teeti, lubbuu ilmaan teetiitii fi durra teetii, lubbuu niitota teetiitii fi gursumeeyyii teetii hamburane mara qaanessiteerta.

⁶ Ati worra si jibbu jaalatee, worra si jaalatu jibbita; ajajjooti loltoota teetiitii fi loltooti isaanii si'iif akka woy hin baane ati adha beessitteerta; adha Abiishaalom lubbuu hafee, nuuti marti adoo duunee jiraanne akka ati gammaddu ani adha dhagge.

⁷ Amma ka'iitii namoota jajjabeessi; yoo didde, dhugaa Mootii Waan Maraa ka ka jiraataa te'ee, nami tokkolle galgala kana si biratti hin hafu; tunille farra haga ijoollummaa teetiitii jalqabee si irratti te'e mara caalaa rakkinna si irratti hin fida» jedhe.

⁸ Maarre mootichi ka'ee karra dura tee'e; namoota maratti, «Mootichi karra dura te'eera» jedhanee yennaa himane, marti isaanii gara isaa dhufane.

Daawiti Gara Yerusaalemii Deebi'e

Yennaa san Israa'elooti marti gara mana mana ifii baqataneeraniyyu.

⁹ Gosa Israa'elii mara keessatti kolbaan, «Mootichi harka diinota keennaa jalaa nu baaseera; harka Filisxeemotaa jalalle'ee ka nu baase isa; amma ammoo marroo Abiishaalomiiitiif biyyaa baqateera.

¹⁰ Abiishaalom ka nuuti akka nu bulchuuf filanne, lola keessatti du'eera; maarre mooticha deebinne fidiisaaf maaf cadhi jettan ree?» jedhaa wol moromane.

¹¹ Mootichi Daawiti gara hayyoota Zaadoqii fi Abiyaataarii nama ergee, «Jaarsolee Yihuda'aatiin, «Waan Israa'el jettu mara ani adduma jirutti dhage'eera; maarre isin mooticha gara mana mootummaa isaa deebittanee fidiisaaf, dura aaniisaaf adoo maltanuu isin maaf duubatti hattane?

¹² Isin obboleeyyan foonii fi dhiiga kiyyaa ti; mooticha gara mana mootummaa isaa deebittanee fidiisaaf, dura aaniisaaf adoo maltanuu maaf duubatti hattanee ree?» jedha'a.

¹³ Amaasaalle'een, «Atille foonii fi dhiiga kiyyaa motii ree? Ammaa jalqabee, addee Yo'aabiititti ajajaa loltoota tiyyaa yoo si hin godhin Waaqi na ijjeesuu ti!» jedha'aan» jedhe.

¹⁴ Inni kolbaan Yihuda'aa marti gadhaa tokkochaan gara isaa akka deebitu godhe; isaanille, «Atii fi namooti keeti marti deebi'a'a» jedhanee itti ergane.

¹⁵ Achiin duuba mootichi deebi'ee haga laga Yordaanosii dhufe; kolbaan Yihuda'aalle mooticha fudhatanee laga Yordaanosii gamatti buusanee baasiisaaf haga Giilgalii dhufaneeraniyyu.

¹⁶ Ilmi Geraa Shime'i nami biyya Beniyaaminii, qachaa Bahuriimii keessaa mooticha Daawiti fudhatiisaaf, namoota Yihuda'aa waliin ariifatee gad bu'e.

¹⁷ Isa waliin kolbaan Beniyaaminii kuma tokko, tajaajilaan mana Saa'olii Ziibaalle ilmaan ifii kudha shanii fi tajaajiltoota ifii diddama waliin isa waliin jiraayyu; isaan ariiti'in gara laga Yordaanosii addee mootichi jiru geyane.

¹⁸ Isaan maatii mootichaa fidiisaaf, waan inni fedhu mara godhiisaafille karaa malka'aatiin gamatti bu'ane bayane.

Ilmi Geraa Shime'i laga Yordaanosii gamatti bu'ee bayee, mooticha duratti fuulaan lafatti gad gombifamee,

¹⁹ mootichaan, «Gootaa kiyya yakkaa tiyya natti hin laakkowin; guyyaa ati mootichi goottaan kiyya Yerusaalem keessaa baate, ani tajaajilaan keeti waan si yakke hin qaabatan; gadhaa keetille'etti hin qabatan.

²⁰ Ani tajaajilaan keeti cubbuu akka huje beekeera; adha ammoo gootaa kiyya mooticha fudhatiisaaf, sanyii Yoseefii mara keessaa ani dursee dhufeera» jedhe.

²¹ Achiin duuba ilmi Zeruyaana deette Abiishaayi, «Shime'i nama Mootiin Waan Maraa muude waan abaareef ijjeefamuu qaba» jedhe.

²² Daawiti ammoo, «Isin ilmaan Zeruyaana deette, dubbii tiyya keessa maanti isin galche? Guyyaa adhaa isin diina natti teetaneertan. Adha Israa'el keessaa nami du'uu qabaa ree? Amma ani mootii Israa'elii ti» jedhe.

²³ Maarre mootichi Daawiti Shime'iin, «Hin duutu!» jedhee kakateef.

²⁴ Achiin duuba akaakoon Saa'olii Mefii-Bosheet mooticha fudhatiisaaf dhage; guyyaa mootichi ari'ameen jalqabee haga inni nageyaan deebi'ee galeetitti, Mefii-Bodheet miila ifii hin dhiqanne, areeda ifii hin haadanne, woyaa ifille hin dhiqanneeyyu.

²⁵ Inni mooticha fudhatiisaaf gara Yerusaalemii yennaa dhufe, mootichi, «Mefii-Bosheet! Ati maaf na woliin deemiisa didde?» jedhee isa gaafate.

²⁶ Mefii-Bosheet deebisee, «Gootaa kiyya mooticha, ani tajaajilaan keeti naafa waan te'eef, «Mooticha woliin akka deemmu harree kooraa itti naa fe'i» jedheeraayyu; garuu tajaajilaan kiyya Ziibaana na sobe.

²⁷ Gootaa kiyya mooticha duralle'etti ana tajaajilaa keeti maqaa balleesseera; ati gootnaan kiyya mootichi akka ergamaa Waaqaa waan teeteef, waan feete mara godhi.

²⁸ Ati silaa sanyii abbaa kiyyaa mara ijjeesuu malee, waan dansaa isaaniif godhu hin qadduuyyuu. Te'uu malee ana tajaajilaa keeti worra qorii teeti keessaa nyaatu woliin tee'ee akka nyaadhu na gooteerta; maarre tana caalaa mooticha gaafatiisaaf mirga maan qaba ree?» jedhe.

²⁹ Mootichille isaan, «Tana caalaa hin dubbatin; atii fi Ziibaana fichaa mara akka qoodantanuuf ani ajajeera» jedhe.

³⁰ Mefii-Bosheet mootichaan, «Atummaan mootichi gootnaan kiyya бага nageyaan deebite; inni waan maraayyuu fudhatuu ti» jedhe.

³¹ Baarzilaayiin Giil'aadichi, ka biyya Rogeeliimiitii dhufe, mooticha geegessiisaaf isa woliin laga Yordaanosii bu'ee gamatti baye.

³² Baarzilaayi jaarsa woggaa saddeettamaa ti; inni dureessa waan te'eef, yennaa mootichi biyya Mahanaayimii jiru, sagalee isaaf geesseeraayyu.

³³ Mootichille Baarzilaayiin, «Na woliin gamatti bu'ii bayiitii Yerusaalem keessa na woliin le'i; anille waan si'iif barbaachisu mara si'iif hin kenna» jedhe.

³⁴ Barizilaayi ammoo deebisee, «Ani nama ganna hagam le'utti, mooticha woliin gara Yerusaalemii deema?

³⁵ Ani amma nama woggaa saddeettamaa ti; waan hama'aa fi dansaa gargar baasee beekuu hin dande'aa ree? Haganaa achi tajaajilaan keeti mi'a'aa fi bushaa waan nyaatuutii fi waan unuu gargar baasee hin beekaa? Qoonqoo sirbaa ta ijoollee dhiiraatii fi durraa dhage'iisa hin dande'aa? Ani tajaajilaan keeti gootaa kiyya mootichatti maaf ba'aa te'a ree?

³⁶ Ani tajaajilaan keeti mooticha woliin laga Yordaanosii gamatti bu'ee bayee haga diqqaa si hin geegessa; ati ammoo maaf badhaasa akkasii kana naaf kennita ree?

³⁷ Ani qachuma kiyya keessatti du'ee, addee awwaala abbaa kiyyaatiif fi haadha tiyyaa biratti akka awwaalamu, deebi'ee deemuu barbaada; ammoo tajaajilaan keeti Kiimhaam kunoo asi jira; inni si gootaa kiyya mooticha woliin gamatti bu'ee bayuutii, waan si gammachiise isaaf godhi» jedhe.

³⁸ Mootichille, «Kiimhaam na woliin gamatti bu'ee bayuu ti; anille waan si gammachiise isaaf hin godha; waan ati na irraa barbaaddu mara si'ille'eef hin godha» jedhe.

³⁹ Maarre kolbaan marti laga Yordaanosii gamatti buutee baate; mootichille gamatti bu'ee baye. Mootichi Daawiti Baarzilaayi sunqatee eebbise; Baarzilaayinille gara mana ifii deebi'e.

⁴⁰ Mootichi Daawiti Giilgal gamatti bu'ee yennaa baye, Kiimhaamille isa waliin gamatti bu'ee baye; loltooti Yihuda'aa martii fi loltooti Israa'elii gariin mooticha bookarsanee gamatti buusanee baasane.

⁴¹ Yennuma san namooti Israa'elii marti gara mootichaa dhufanee, «Obboleeyyan teenna namooti Yihuda'aa si mooticha fuudhanee, maatii keetii fi namoota keeti mara waliin dhossa'aan maaf laga Yordaanosii gamatti buusanee baasane?» jedhane.

⁴² Namooti Yihuda'aa marti deebisane namoota Israa'eliitiin, «Mootichi fira keenna waan te'eef nuuti tana goone; isin marroo tanaaf maaf aartan ree? Nuuti mooticha irraa woy nyaanneerraa ree? Yookiin nuuti ifii waan tokkolle fudhanneerraa ree?» jedhane.

⁴³ Achiin duuba namooti Israa'elii deebisane namoota Yihuda'aatiin, «Nuuti harka kudhan isin caalla; Daawiti irralle'etti isin caalaa mirga qanna; isin maaf nu tuffattan ree? Mootichi akka nu'uuf deebi'u ka dursinee gaafanne nu'u motii?» jedhane.

Namooti Yihuda'aa ammoo namoota Israa'elii caalaa deebii jadduu kennane.

20

Sheebaan Daawiti Irratti Ka'e

¹ Yennaa san ilmi Biikrii Sheebaan Beniyaaminichi nami yabaabulaan tokko achi jiraayyu; inni tultullaa afuufee, «Nuuti Daawiti irraa qooda hin qannu; ilma Iseyii waliin tokkummaa hin qannu; ee, kolbaa Israa'elii tokko tokkoon keessan gara dunkaanii teessanii deebi'a'a!» jedhe.

² Maarre kolbaan Israa'elii marti Daawiti lakkisane ilma Biikrii Sheebaa hordofane; kolbaan Yihuda'aa ammoo Yordaanosii jalqabane haga Yersaaleemii mootii ifii waliin turane.

³ Daawiti gara mana mootumma'aa ka Yersaaleem keessaatitti yennaa deebi'e, gursumeeyyii kudhan ka mana mootumma'aa akka eeganuuf lakkise san achii fuudhee, mana tokko keessa galchee achitti akka isaan eeganu godhe; inni sagalee isaanii kenne; te'uu malee isaan bira hin geenne; isaan haga du'aatitti akka haadhotii hiyyeessaa te'anee, qofii ifii adda bayane le'ane.

⁴ Achiin duuba mootichi Daawiti Amaasaa'aan, «Kolbaan Yihuda'aa guyyaa sad keessatti gara kiyya akka dhuttu waami! Atille isaan waliin dhaggam!» jedhe.

⁵ Amaasaan ammoo kolbaa Yihuda'aa waamiisaaf deeme; garuu guyyaa mootichi murteesse caalaa ture.

⁶ Daawitille Abiishaayiin, «Ilmi Biikrii Sheebaan Abiishaalom caalaa nu hin miidha; akka inni qachaa dalleya dhaka'aatiin ijaarame dhaggee nu duraa hin milindhe, namoota goottaa keetii qabadhuutii isa ari'i!» jedhe.

⁷ Maarre namooti Yo'aabii, Keretootot, Pheletoototii fi loltooti jajjabi marti Abiishaayi waliin deemane; isaan ilma Biikrii Sheebaa ari'iisaaf Yersaaleem keessaa bayane.

⁸ Isaan rassaa guddaa Giibe'on keessa jiru bira adoo jiranuu, Amaasaan isaan bira dhufe; Yo'aab woyaa lolaa uffatee, shallaagaa hidhatti hidhateeraayyu; yennaa inni gara duraa deemiisaaf miila ifii fudhatu shallaagaan isaa gonofaa keessaa bu'e.

⁹ Yo'aabilille Amaasaa'aan, «Obboleessa kiiyya, akkam jirta?» jedhe; achiin duuba Amaasaa waan sunqataaruu fakkaatee harka middaatiin areeda isaa qabe;

¹⁰ Amaasaan ammoo Yo'aab shallaagaa akka qabateeru waan hin beekiniif ifi hin eeganeeyyu; Yo'aab shallaaga'aan gadhaa isaa hordee, madhumaan isaa lafatti gad dhowe; inni adoo itti hin lammeessin Amaasaan achumatti du'e; achiin duuba Yo'aabii fi obboleessi isaa Abiishaayi, ilma Biikrii Sheebaa ari'iisa jalqabane.

¹¹ Namoota Yo'aabii keessaa tokko reeffa Amaasa'aa bira dhaabbatee, «Nami Yo'aab jaalatu, ka Daawitiille ka te'e marti Yo'aab hordofuu ti!» jedhe.

¹² Reefi Amaasa'aa dhiigaan badee wodhakkaa kara'aa irkateera; nami karaa san dabaru marti dhaabbatee reeffa Amaasa'aa akka ilaalaaru nami sun yennaa dhagge, reeffa Amaasa'aa karaa irraa gara ficha'aa harkisee woyaa irra buuse.

¹³ Reefi Amaasa'aa karaa irraa ka'een duuba, namooti marti Yo'aab woliin ilma Biikrii Sheebaa ari'iisaaf deemane.

¹⁴ Sheebaan biyya gosa Israa'elii mara keessa dabaree, gara qachaa Abeel Bet-Ma'aka'aa ka biyya gosa Biikrii keessa jiruu dhufe; namooti Biikrii marti wolitti qabamanee isa hordofane.

¹⁵ Loltooti Yo'aab woliin jiranu marti dhufanee, qachaa Abeel Bet-Ma'akaa ka Sheebaan keessa jiru marsanee, gara alaatiin haga qaccee qacha'aatitti, kaabii itti ijaarane; kaabii san diigiisaaf hunnaan yennaa dhowanu,

¹⁶ dubartiin qarittiin takka qoonqoo ifii ol qabatee, «Dhage'a'a! Dhage'a'a! Yo'aabitti waan himu qabaa asi akka dhufu isatti naaf hima'a» jette

¹⁷ Yo'aab gara isi'ii yennaa dhufe, isiin, «Yo'aab si'ii?» jettee gaafatte.

Innille deebisee, «Ee, ana» jedhe.

Isiille, «Waan ani tajaajiltuun teeti si'iin jedhu dhage'i» jette.

Innille, «Ee, hin dhage'a!» jedheen.

¹⁸ Isiin ammalle, «Bara durii namooti, qachaa Abeelii dhaqa'aatii gorsa gaafadha'a» jedhaniyyu; akka kanaan haajaan isaan qabanu isaaniif muummowa.

¹⁹ Biyya Israa'elii keessatti worra nageyaa fi addatamummaa qabanu keessaa takkattiin ana; ati qachaa Israa'el keessatti haadha te'e balleessiisaaf wodhaaniisatti jirta; dhaala Mootiin Waan Maraa nu'uuf kenne balleessiisaaf maaf barbaadda?» jette.

²⁰ Yo'aab deebisee, «Balleessiisi yookiin diigiisi na irraa fagaatu! Ammalle na irraa fagaatuu ti!

²¹ Dubbiin akkasii moti; ilmi Biikrii Sheebaan nami biyya koobittii Efreemii mooticha Daawiti irratti ka'eera; isin isuma callaa dabarsa'aa natti kenna'a, ani qachaa kana lakkisee hin deema» jedhe.

Dubartittiille Yo'aabiin, «Mataan isaa dalleya dhaka'aa irraa gad si'iif hin darbama» jette.

²² Achiin duuba dubartittiin gara kolbaa mara dhaxxee gorsa ifii ta qarumma'aa kana dubbatte; isaanille mataa Sheebaa ilma Biikrii muranee Yo'aabiif darbane; maarre Yo'aab tultullaa afuufee namooti isaa marti qachaa keessaa bayanee gara mana ifii deebi'ane; Yo'aabilille gara mootichaa gara Yersaalemii deebi'e.

²³ Yo'aab loltoota Israa'elii mara irratti ajajaa te'e; ilmi Yehoyaada'a Be-naayaan Keretootaa fi Pheletoota irratti ajajaa te'e.

²⁴ Adoniiraam worra hujii hunnaa huju irratti itti gaafatamaa te'e; ilmi Ahiiludii Yoshaafaax ammoo barreessaa dabarsi'ii te'e.

²⁵ Shewaan barreessaa, Zaadoqii fi Abiyaataar hayyoota;

²⁶ Iira nami biyya Yaa'iirii hayyicha Daawitii ti.

21

Namooti Giibe'onii Haluu Bayane

¹ Bara bulchiinsa Daawitii haga woggaa sadii beelti buute; maarre Daawiti marroo waan kanaa Mootii Waan Maraa gaafate; Mootiin Waan Maraalle, «Saa'ol namoota Giibe'onii ijjeesee, innii fi maatiin isaa worra dhiigaa waan te'aneef tun teete» jedhe.

² Mootichi Daawiti worra Giibe'onii waame; worri Giibe'onii worra Amoorota keessaa lubbu'uun hafe malee sanyii Israa'elootaatii moti; Israa'elooti isaan eegiisaaf kakatanulle, Saa'ol kolbaa Israa'eliitii fi kolbaa Yihuda'aatiifille hinaaffaa waan qabuuf isaan mara balleessiisaaf barbaade.

³ Daawiti, «Maan isiniif godha? Kolbaa Mootii Waan Maraa tana akka eebbittanuuf godha maan isiniif kenna» jedhee isaan gaafate.

⁴ Namooti Giibe'onii deebisanee isaan, «Nuuti Saa'olii fi maatii Saa'olii irraa meetii yookiin worqii fudhatiisa yookiin Israa'eloota keessaa eennulle ijjeessiisaaf mirga hin qannu» jedhane.

Innille, «Maan akka isiniif godhu barbaaddan ree?» jedhee isaan gaafate.

⁵ Isaan deebisanee mootichaan, «Saa'ol nu mara balleessee, biyya Israa'elii keessatti addee akka hin qabaanne mala nu irratti dhoweeraayyu,

⁶ maarre sanyii isaa keessaa ilmaan dhiiraa torba harka keennatti dabarsii kenni; nuutille biyya Saa'olii ka Mootiin Waan Maraa filate keessatti, Mootii Waan Maraa duratti isaan ijjeennee hin fanninna» jedhane.

Maarre mootichille, «Isaan harka keessanitti dabarsee hin kenna» jedhe.

⁷ Te'uu malee Daawitii fi ilmi Saa'olii Yonaataan maqaa Mootii Waan Maraatiin woliif waan kakataneef, mootichi Daawiti akaakoo Saa'olii ilma Yonaataanii Mefii-Bosheet du'a irraa hambure.

⁸ Mootichi ammoo ilmaan lamaan Armonii fi Mefii-Bodheet ta intalti Ayyaa Riizphaan Saa'oliif deette, ilmaan dhiiraa shan ta intalti Saa'olii Meraab, ilma Baarzilaayii Meholaatichaa Adrii'eliif deettelle fuudhee,

⁹ harka worra Giibe'oniititti dabarsee kenne; isaanille isaan ijjeesane kooba irratti Mootii Waan Maraa duratti fannisane; isaan torbaanuu yenna tokko du'ane; isaan ji'a birra'aa yennaa garbuun haamamuu jalqabu ijjeefamane.

¹⁰ Intalti Ayyaa Riizphaan woyaa gaddaa fuutee, addee reeffi worra ijjeefame jiru bira rassaa irratti afatte; yennaa haammaa midhaaniitii jalqaddee haga bokkeenni ol-gubba'aa reeffa ilmaan isi'ii irratti roobutti achi turte; isiin guyyaa allaatiin, halkan bineensi reeffa isaanii akka hin geenne dhooggite.

¹¹ Intalti Ayyaa Riizphaan gursumeettiin Saa'olii waan goote kana yennaa Daawititti himane,

¹² inni dhagee lafee Saa'oliitii fi lafee ilma isaa Yonaataanii worra Yaabesh-Giil'aadii irraa fuudhe; worri Filisxeemotaa kooba Giilbo'aa irratti Saa'ol ijjeesaneen duuba addee isaan reeffa isaanii fannisane, badhinna Bet-Shaanii keessaa worri Yaabeshii lafee isaanii dhossa'aan fudhataneeraniyyu.

¹³ Daawitille lafee Saa'oliitii fi lafee ilma isaa Yonaataanii achii fide; lafee ilmaan Saa'olii torbaa ka worra ijjeefamanee fannifamane saniille wolitti qabane.

¹⁴ Lafee Saa'oliitii fi lafee Yonaataanii ilma isaa, biyya Beniyaamii addee, «Zelaa» jedhantutti addee awwaala Qiishii abbaa Saa'olii keessatti awwaalane; isaan waan mootichi ajaje mara godhane; achiin duuba Mootiin Waan Maraa daadimata kolbaan marroo lafaatiif daadimatte dhage'e.

Lola Filisxeemota Irratti Ka'e

¹⁵ Filisxeemotaa fi Israa'elii wodhakkaa ammalle lolli ka'e; Daawiti namoota ifii woliin Filisxeemota loliisaaf dhaqee, adoo loliisatti jiranuu Daawiti dadhabe.

¹⁶ Sanyii Refaa'otaa keessaa Ishibii-Benoob, eboo sageettuu irraa hujante ta kiiloogiraama sadii fi wodhakka'aa qabatee, shallaagaa haareya hidhate tokko Daawiti ijeesiisaaf barbaade.

¹⁷ Ilmi Zeruyaana deette Abiishaayi ammoo Daawiti qarqaariisaaf dhufee, Filisxeemicha san ijeese; achiin duuba namooti Daawitii, «Ati nami Israa'eliif issaa teete akka hin banne, hagaraa achi nu woliin hin duulin» jedhane kkatane.

¹⁸ Achiin duuba addee, «Gob» jedhantutti Filisxeemota woliin lolli dhibiin ka'e; yennaa san Siibekaayiin Hushaatchi nama sanyii Refaa'otaa keessaa Saaf ijeese.

¹⁹ Lola dhibii Gob keessatti ka'een Filisxeemota woliin wol lolane keessatti, ilmi Yaa'aree-Oreegiimii Betlehemichaa Elhaanaan, nama biyya Gaatii, Goliyaad ta somey eboo isaa akka muka worri woyaa dhowu woyaa itti maratuu qabateeru ijeese.

²⁰ Gaati keessatti ammalle lolli dhibiin ka'e; achi keessa nami guddaan ka harkaa fi miila tokko tokko irrattuu quba jaa, wolumatti quba diddamii afur qabu tokko jiraayyu; innille nama sanyii Refaa'otaa ti.

²¹ Namichi kun yennaa Israa'elootatti murgu, obboleessi Daawitii ilmi Shimi'aa Yonaataan isa ijeese.

²² Worri ijeefame kun arfanuu Gaati keessatti sanyii Refaa'otaa ti; isaanille Daawitii fi loltoota isaatiin ijeefamane.

22*Faaruu Daawitii Ta Galataa*

¹ Mootiin Waan Maraa harka diinota isaa maraa fi harka Saa'olii jalaa yennaa isa baase Daawiti faaruu asii gad jirtu tana Mootii Waan Maraatiif faarse:

² Inni, «Mootiin Waan Maraa rassaa kiyya,
waan itti golladhu;
ka na baasulle'e.

³ Waaqi kiyya rassaa kiyya
ka ani itti baqadhu;
wontee tiyya,
ka akka gaafaa woy na irraa dhooggu.

Inni kushee tiyya jaddu'u;
ta ani itti baqadhu; fayyisaa kiyyalle'e;
namoota hunnaan nama irratti ka'anuu jalaa
na hin baasa.

⁴ Ani Mootii Waan Maraa leellifamaa
hin waammadha;
innille diinota kiyya jalaa na hin baasa.

⁵ «Danbaliin du'aa na marsitee,
lolaan badi'ii na gad liqinse.

⁶ Wodaroona awwaalaa na xaxxee,
tiyyoon du'aa na qabatte.

⁷ Rakkinna kiyya keessatti
ani Mootii Waan Maraa kiyya waammadhe;

- akka na qarqaaruuf,
Waaqa kiyyatti iyye.
Inni Dunkaanii Woyyittii ifii keessaa
qoonqoo tiyya dhage'e;
iyya tiyyalle caqase.
- 8 «Mootiin Waan Maraa waan aareef,
latti rommitee tachoote;
hundeen ol-gubba'aalle daaxxee hollatte.
- 9 Funnaan isaa keessaa aarri baye;
afaan isaa keessaa ibiddi luxub godhuu fi
kashilli ibiddaa baye.
- 10 Inni ol-gubbaa dayyaasee gad bu'e;
duumensi gurraachi miila isaa jala jiraayyu.
- 11 Inni dada ol-gubba'aa
ta koola qaddu irra tee'ee koolaan ka'e;
koola qilleensaa irra tee'ee xinniqe.
- 12 Inni dukkana gollaa ifii godhatee,
dunkaaniin isaa adaala isaa jirtiyyu;
duumensi gurraachi, bisaaniin guutame,
isa marseera.
- 13 Calalaqa addee inni jiruu keessaa,
balaqqeettiin balaqqitte.
- 14 Mootiin Waan Maraa ol-gubbaa irraa mandi'e;
Waaqi Ol Aanaan qoonqoo ifii dhageessise.
- 15 Inni daaya ifii darbatee diinota ifii bittinnee;se;
balaqqeessa balaqqeetti'iitiin
haxowee isaan balleesse.
- 16 Xixicha Mootii Waan Maraatiin,
dhowicha hafuura funnaan isaatiin,
dhooqoti abbaayaa jalaa mudhatane;
hundeen lafaa marti qullaa hafane.
- 17 «Inni gubbaa irraa gad hiixatee, na qabe;
bisaan qilee keessaa harkisee na baase.
- 18 Isaan akka malee hunnaan waan na caalanuuf,
inni diinota kiyya hunnaameyyii,
worra na jibbu jalaa na baase.
- 19 Yennaa ani rakkadhe,
isaan na irratti ka'ane;
Mootiin Waan Maraa
ammoo na qarqaare.
- 20 Inni gara addee badho'oo na geessee,
waan natti gammadeef, na baase.
- 21 «Mootiin Waan Maraa
akkuma balchummaa tiyyaatitti naaf godhe;
inni waan ani yakkaa hin qanneef
gatii naa kaffale.
- 22 Ani karaa Mootii Waan Maraa waan hordofeef,
Waaqa kiyya irraa deebi'ee
waan hantuu hin hunye.
- 23 Ani seera isaa mara muummeseera;

- seerata isalle irraa hin gorre.
- 24 Ani isa duratti komii hin qabuuyyu;
cubbuu irralle'ee ifi eeggadheera.
- 25 Mootiin Waan Maraa
akkuma balchummaa tiyyaatitti,
ani waan yakkaa hin qanneef
badhaasa naaf kenne.
- 26 «Ee, Mootii Waan Maraa,
ati worra addatama'aaf, ka addatante;
worra komii hin qanneef, ka komii hin qanne.
- 27 Worra qulqullu'uuf, ati qulqullu'u;
worra dabaaleessaaf,
akka daba isaaniititti gatii isaaniif kennita.
- 28 Ati worra gad ifi qabu hin baatta*;
worra kooru ammoo hin salphitta.
- 29 Ee, Mootii Waan Maraa,
ati ifa naaf hin issita;
Waaqa kiyya,
ati dukkana tiyya hin issita.
- 30 Qarqaarsa keetiin ani loltoota hin lola;
qarqaarsa Waaqaatiin
dalleya gubba'aan utaaluu dande'a.
- 31 «Karaan Waaqaa dhidhinna hin qabu;
jechi Mootii Waan Maraa dhuga'a;
worra isatti baqatuuf, inni wonte'e.
- 32 Waaqa malee Mootiin Waan Maraa eennu?
Waaqa keenna malee rasaan eennu?
- 33 Jabeenna ka anaaf kennu,
ka karaa naaf qajeelchu Waaqa.
- 34 Inni miila kiyya
akka miila gadansaa hin jabeessa;
koobota gubbaa
sodaa malee na dhaabbachiisa.
- 35 Inni harka kiyya lolaaf hin leenjisa;
guubee sageettu'uu harkisuu akka dande'u,
irree tiyya hin jabeessa.
- 36 Wontee teeti ta fayyinnaa naa kenniteerta;
qarqaarsi keeti guddaa na godheera.
- 37 Karaa ideemmaa tiyyaa naaf badhittee,
miilli kiyyalle hin mucucaanne.
- 38 «Ani diinota kiyya
ari'ee isaan balleesse;
haga isaan badanutti
ani duubatti hin deebine.
- 39 Akka isaan dande'anee hin kaane,
gad isaan dhowe;
isaan miila kiyya jalatti jigane.
- 40 Ati lolaaf hunna naaf kennite;
mormitoota tiyya

* 22:28 **Hin baatta:** Lafa tokko tokkotti hin baacha jedhan.

- miila kiyya jalatti jilbiiffachiitte.
- 41 Ati diinoti kiyya worri na jibbu
duubatti deebi'anee akka baqatanu goote;
anille isaan balleesse.
- 42 Isaan qarqaarsa gaafatiisaaf iyyane;
ammoo nami tokkolle isaan hin qarqaarre.
Isaan Mootii Waan Maraa waamane;
inni ammoo deebii hin kennine.
- 43 Akka bukuu qilleensi afuufuu,
ani isaan butuche;
akka dhoqqee karaa keessaa,
ani isaan irra sirbe.
- 44 «Ati kolbaa tiyya
ta na loltu jalaa na baatte†;
gosa biyya adda addaa irratti
bulchaa na goote;
kolbaan ani hin beenne na tajaajilte.
- 45 Worri ormaa na sossobatane;
gurra kiyya akkuma dhage'aneen,
naaf ajajamane.
- 46 Isaan Sodaatanee addii kutatane;
raafamanee kushee jadduu ifii
lakkisane bayane.
- 47 «Mootiin Waan Maraa jiraata'a!
Rasaan kiyya leellifamuu ti!
Waaqi fayyisaan kiyya jajamuu ti.
- 48 Inni Waaqa diinota kiyya haluu naa bayu;
gosa biyya adda addaa harka kiyya jala galcha.
- 49 Inni diinota kiyya jalaa na baasa.
Diinota kiyya irratti ol ol na qaba;
kolbaa hunnaan na irratti kaatu jalalle'ee
na baasa.
- 50 Tanaaf, Mootii Waan Maraa,
gosa biyya adda addaa oddu'utti si leellisa;
faaru leellisaatiin maqaa keeti faarfadha.
- 51 Mootiin Waan Maraa mooticha mootii godheef,
injifachaa kenna;
ka ifii muude Daawitii fi sanyii isaatiifille,
jaalala ifii ka bara baraa itti mudhisa» jedhe.

23

Dubbii Daawitii Ta Dhumaa

1 Dubbiin Daawitii ta dhuma irratti inni dubbate ta asii gad jirtu: «Ergaan Daawitii ilma Iseyii, ka Ol Aanaa irraa guddinna dhaggatee, ka nama Waaqa Yaaqoobiitiin mudamee, faaruun faarsicha Israa'elii tana:

- 2 «Ayyaanni Mootii Waan Maraa
karaa kiyyaan dubbateera;
jechi isaa arraba kiyya irra jira.
- 3 Waaqi Israa'elii dubbateera;

† 22:44 Baatte: Yookiin Baache

rassaan Israa'elii anaan,
 «Nami tokko balchumma'aan yennaa bulchu,
 Waaqa sodaatiisaan yennaa bulchu,
 4 inni akka ifa ganamaa,
 ka duumensi adoo hin jiraatin
 yennaa aduun baatu ifuu ti;
 akka calalaqa roobaan duuba
 latti marra akka baattu godhuu ti» jedhe.

5 «Dhugumaan manni kiyya
 Waaqa duratti akkasii motii ree?
 Inni gondooroo bara baraa
 na woliin godhateera.

Waan mara sirreessee jabeessee hin eega;
 fayyinna kiyyaa fi fedhii tiyya mara
 ka naaf muummessu isaa motii ree?

6 Garuu namooti hamooleen marti
 akka qoreettii
 nami harkaan wolitti qabuu hin dandeennee
 hin gataman.

7 Nami sibiilaa fi someya ebo'ootiin
 qoreettii wolitti hin qaba;
 qoreettiin sun achumaan ibiddaan hin gubanti.»

Loltoota Daawitii Gootota.

8 Maqaan loltoota Daawitii ta worra goototaa ta asii gad jiru: Yosheb-Baashebetii Takmoonicha soressaa gootota sadii; inni lola tokko keessatti namoota dhibba saddeeti eboo ifitiin fixe.

9 Ka isatti aanu ilma Dodoo Ahohichaa Ele'azaar; Filisxeemota lolaaf wolitti qabamanetti dhaadatanu, loltoota jannoota sad keessaa tokkochi isa. Achiin duuba Israa'elooti baqatane.

10 Inni ammoo haga irreen isaa irraa buututti, haga harki isaa shallaaga'atti gogutti Filisxeemota lole; guyyaa san Waaqi injifachaa guddaa isaaf kenne. Loltooti gara Ele'azaarii deebi'anee Filisxeemota worra ijjeefame irraa meya lolaa mulqatane.

11 Ka itti aanu ilma Aagee Haraarichaa Shama'a. Addee, «Lehi» jedhan-tutti fichaa misiraa keessatti yennaa Filisxeemoti wolitti qabantu, loltooti Israa'elootaa isaan duraa baqatane.

12 Shamaan garuu fichuma san keessa dhaabbatee, Filisxeemota ijjeesee fichaa irraa deebise; guyyaa san Mootiin Waan Maraa injifachaa guddaa isaaf kenne.

13 Yennaa midhaan galfatanu loltooti Filisxeemotaa dhooqa Refaa'iimii keessatti addee qabatanee adoo jiranu, loltoota gootota soddoma keessaa sadiin addee Daawiti jiru gara goda «Adulaam» jedhamuu dhufane.

14 Yennaa san Daawiti kushee keessa jiraayyu; gareen loltoota Filisxeemotaalle Betlihem keessa jiran.

15 Daawiti dharraa guddo'oon, «Boolla karra Betlihemii bira jirtu keessaa bisaan unu eennutti naaf fida laati?» jedhe.

16 Maarre loltooti goototi sadiin sun quttuma Filisxeemotaa keessa dabaraanee boolla karra Betlihemii bira jirtu keessaa bisaan woraabanee Daawitiif fidane. Daawiti ammoo, bisaan san hin unne. Inni bisaan san kennansa godhee, Mootii Waan Maraatiif dhangalaasee,

¹⁷ «Ee, Mootii Waan Maraa, waan akkasii kana godhiis narraa fagaatu! Kun dhiiga worra lubbuu ifii gurguratee dhaqheetii motii ree?» jedhe; tanaaf Daawiti bisaan isaaf fidane san uniisa hin barbaanne. Jannummaan loltooti goototi sadiin sun godhane tana.

¹⁸ Abiishaayi obboleessi Yo'aabii ka Zeruyaana deette soressaa worra sadiin kanaa ti. Inni eboo ifitiin namoota dhibba sad ijjeesee, akka worra sadiin sanii loliisaan gurri isaa ka'e.

¹⁹ Inni worra sadiin san caalaa ulfinna guddaa qabaa motii ree? Akka isaanii beekkamu dhabulle ajajaa isaanii te'e.

²⁰ Ilmi Yihoyaada'aa nami biyya Kabzii'elii Benaayaan, lolticha goota nama hujii gugurdoo huje. Inni gootota Mo'aabii lama ijjeese. Gaafa dhakaan roobaa bu'e tokko gara bowwa'aa gad dhaqee, neenqa tokkolle ijjeesera.

²¹ Inni nama biyya Gibxi'ii tokkolle ijjeesera. Namichi Gibxi'ii sun eboo qabaatulle, Benaayaan ulee ifii qabatee itti dhaqee, eboo isaa harkaa butee fuudhee, ebuma isaatiin namicha Gibxi'ii san ijjeese.

²² Ilmi Yihoyaada'aa Benaayaan tana godhiisaan, innille akkuma gootota dhiira sadiin sanii gootummaa dhaggate.

²³ Inni loltoota gootota soddoma san caalaa ulfinna dhaggate; te'uu malee inni akka gootota sadiin kaanii ka beekkamee moti. Daawitille worra isa eegu irratti itti gaafatamaa isa godhate.

²⁴ Worra soddoma keessaa maqaan isaanii ka asii gad jiru: Obboleessa Yo'aabii Asaahel, nama biyya Betlihemii ilma Dodoo Elhaanaa,

²⁵ nama biyya Harorii Shaamaa, nama biyya Haarodii Eliqaa,

²⁶ nama biyya Phaaltii Helez, nama qachaa Teqo'aa ilma Iqeshii Iiraa,

²⁷ nama qachaa Anaatotii Abii'ezer, nama biyya Hushaatii Mebunaa'i,

²⁸ nama biyya Ahohii Zaalmon, nama biyya Netofii Maharaay,

²⁹ ilma Ba'anaa nama biyya Netofii Heled, sanyii Beniyaamin keessaa ilma Rebaayii nama qachaa Giibe'aa Iitaayi,

³⁰ nama biyya phiiraatonii Benaayaan, nama dhooqa Ga'aashii Hiidaayi,

³¹ nama biyya Aarabataahii Abii-Alboon, nama biyya Barhumii Az-maawet,

³² ilmaan Yaashenii keessaa nama biyya Sha'albonii Eliyaabaa,

³³ ilma Shamaa nama biyya Haraarii Yonaataan, ilma Shaaraarii nama biyya Haraarii Ahii'aam,

³⁴ ilma Ahasbaayii nama biyya Ma'akaatii Eliifelex, ilma Ahiitofelii nama biyya Giloonii Elii'aam,

³⁵ nama biyya Qarmelosii Hezro, nama biyya Arbaa'ii Pha'iiraayi,

³⁶ nama biyya Zobaa ilma Naataanii Iigaal, nama biyya Gaadii Baan,

³⁷ nama biyya Amoonii Zeleq, nama biyya Beroonii Naharaayi ka Zeruyaana deette ka meya lolaa Yo'aabiif ba'atu,

³⁸ nama biyya Itrii Iiraa, nama biyya Itrii Gaareb,

³⁹ nama biyya Heetii Uriiyaa fa'a; isaan kun wolumatti nama soddonii torba.

24

Daawiti Loltoota Laakkossiise

¹ Ammalle aariin Mootii Waan Maraa kolbaa Israa'elii irratti bobeettee, «Dhaqiitii kolbaa Israa'eliitii fi kolbaa Yihuda'aa laakkow» jedhee Daawiti isaan irratti kaase.

² Maarre mootichi Daawiti Yo'aabii fi ajajjoota loltootaa ka isa waliin jiranuun, «Ani laakkossa namoota kiyyaa akka beeku gosa Israa'elii mara

keessa deema'aatii Bersheeba'aa haga Daaniititti Israa'eloota laakkowa'a» jedhe.

³ Yo'aab ammoo deebisee, «Mootiin Waan Maraa kolbaa ifii dachaa dhibba baceessuu ti; ilti gootaa kiyya mootichaalle tana dhaggituu ti; garuu goot-taan kiyya mootichi maaf waan akkasii kana godhuu barbaade?» jedhe.

⁴ Te'uu malee ajaji mootichaa Yo'aabii fi ajajaa loltootaa irratti jabaate; maarre Yo'aabii fi ajajaan loltootaa kolbaa Israa'elii laakkowiisaaf mooticha biraa bayane.

⁵ Isaan laga Yordaanosii gamatti bu'anee bayaneen duuba, qachaa Aro'erii gara kibbaatiin qubatanee, karaa Gaadiitiin gara qachaa Yaazerii deemane.

⁶ Isaan achii ka'anee gara Giil'aadiitii fi gara lafa Heetotaa Qaadash keessa dabaranee gara qachaa Daan Yaa'aanii deemane, Daanii ka'anee marfatane gara qachaa Sidoonii deemane.

⁷ Achiin duuba gara kushee Xiirrosii, gara qachoota Hiiwotaatii fi gara qachoota Kana'aanotaa mara deemane. Dhuma irratti gara qachaa Bersheebaa ka biyya Yihuda'aa keessa gara kibbaatitti dhaggamuu deemane.

⁸ Maarre isaan lafa mara keessa deddeemanee ji'a sagalii fi bulii did-damaan duuba gara Yerusaalemii deebi'ane.

⁹ Yo'aab laakkossa kolba'aa mootichatti hime; Israa'el keessa namoota kuma dhibba saddeeti, Yihudaa keessalle namoota kuma dhibba shan worra shallaaga'aan loluu dande'utti jiraayyu.

¹⁰ Te'uu malee Daawiti kolbaa laakkoween duuba gadhaan hammaatee, Mootii Waan Maraatiin, «Ani gowwumma'aan cubbuu guddoo akkasii waan godheef, cubbuu ana tajaajilaa keetii akka araarantuuf, si gaafadha» jedhe.

¹¹ Daawiti ganamaan yennaa ka'e, jechi Mootii Waan Maraa gara Gaadii raagichaa ka Daawitiif mudhii dhagguu dhufee,

¹² «Gara Daawitii dhaqiitii, «Mootiin Waan Maraa: Ani filannoo sad si'iif hin kenna; isaan keessaa ka ani sitti fidu tokko filadhu siin jedha» jedhii itti himi» jedhe.

¹³ Maarre Gaadi gara Daawitii dhagee isaan, «Beelti woggaa sadii lafa teeti irratti dhutte woyya moo? Yookiin diinni keeti si ari'anuun ji'a sad isaan duraa baqattu woyya moo? Yookiin balaa guyyaa sadii lafa teeti irratti fidu sii woyya? Amma tana irratti yaadadhuutii ka na ergeef deebii akka kennu murteeffadhu» jedhe.

¹⁴ Daawitille Gaadiin, «Ani rakkinna guddaa keessa jira. Ani harka namootaatiin adabamuu manna, marartiin Mootiin Waan Maraa guddoo waan teeteef, harka Mootii Waan Maraatiin adabamu naaf woyya» jedhe.

¹⁵ Maarre Mootiin Waan Maraa Israa'eloota irratti balaa buusee, ganama sanii kaasee haga guyyaa murteeffameetitti Daanii haga Bersheeba'aatitti namooti kum torbaatam dhumatane.

¹⁶ Yennaa ergamaan Waaqaa Yerusaalem balleessiisaaf harka ifii diriirsee, Mootiin Waan Maraa marroo badii sanii gaddee, ergamaa Waaqaa ka kolbaa balleessiisatti jiruun, «Hin geetti; harka keeti irraa deebifadhu» jedhe. Yennaa san ergamaan Mootii Waan Maraa eeddumme Ornaa Yibusichaa bira dhaabbateeraayyu.

¹⁷ Daawiti ergamaa Waaqaa ka kolbaa fixiisatti jiru san yennaa dhagge, Mootii Waan Maraatiin, «Kunoo, nami cubbuu huje ka dokonkorelle ana; kolbaan tun ammoo akka hoole'ee ti; isaan maan godhane? Addabbiin teeti anaa fi maatii abbaa kiyyaa irratti teetuu ti» jedhe.

¹⁸ Guyyaa san Gaad gara Daawitii dhagee isaan, «Ka'iitii eeddummee Ornaa Yibusichaa irratti Mootii Waan Maraatiif addee ciinca'aa ijaari» jedhe.

¹⁹ Maarre Daawitille akkuma Mootiin Waan Maraa karaa Gaadiitiin isa ajaje godhe.

²⁰ Orna yennaa ilaalu mootichii fi namooti isaa gara isaa dhufiisatti jiranuun dhaggee, gad bayee fuula mootichaa duratti gad lafatti gombifame.

²¹ Orna, «Gootaan kiyya mootichi gara tajaajilaa ifii maaf dhufe?» jedhee gaafate. Daawiti deebisee, «Balaan kolbaa irratti bu'e kun akka dhaabbatu, addee ciinca'aa ta Mootii Waan Maraa ijaariisaaf, eeddummee teeti bitatiisaaf dhufe» jedhe.

²² Orna Daawitiin, «Kennansa gubamu dhikeessiisaaf qotiyyooti kunoo ti; qoraaniifille waanjoon qotiyyootaati fi uleen midhaaniin dhowanu kunoo ti; gootaan kiyya mootichi waanuma isatti tole fuudhee kennansa gubamu dhikeessuu ti;

²³ ee, mooticha ani Orna waan kana mara si'iif hin kenna» jedhe. Itti dabalee Orna mootichaan, «Mootiin Waan Maraa kennansa gubamu sirraa fudhatuu ti» jedhe.

²⁴ Mootichi ammoo deebisee Ornaaniin, «Waawwo'o; ani gatii si'iif hin kaffala; waan gatii hin kaffalin Mootii Waan Maraa Waaqa kiyyaaf kennansa gubamu hin dhikeessu» jedhe.

Maarre Daawiti eeddumme'ee fi qotiyyoo beese meeti'ii dhibba jaan bitate.

²⁵ Daawiti achitti addee ciinca'aa Mootii Waan Maraatiif ijaaree, kennansa gubamuu fi kennansa tokkumma'aa dhikeesse. Achiin duuba Mootiin Waan Maraa daadimata marroo lafaatiif daadimatane dhage'ee, balaan Israa'el irratti bu'e dhaabbate.

Kitaaba Moototaa Ka Qaraa Seensa

Kitaab moototaa ka qaraa, dabarsii bulchiinsa mootota Israa'elootaa ka kitaabota Saamu'elii keessatti jalqabamee jirutti aansee odeessa. Kitaab moototaa ka qaraa kutaa saditti qoodamuu dande'a. 1. Solomoon addee abbaa ifii bu'ee mootii Israa'eliitii fi Yihuda'aa akka te'ee fi marroo du'a abbaa isaa Daawitii odeessa. 2. Bulchiinsa mootummaa Solomooniitii fi hujii inni huje, keessattuu ijaarsa Galma Yersaalem keessatti ijaarametti irra caalaa beekkama.

3. Biyyi Israa'elii mootummaa kaabaatii fi kibbaatitti akka qoodantee fi dabarsii mootota dhaloota Kiristoosiitiin dura haga wodhakkaa jaarraa sagaleesso'oo sooressitee odeessa.

Kitaaba moototaa ka qaraatii fi ka lammeesso'oo keessatti soorressaan tokko tokkooyyuu akka addatamummaa Waaqaaf qabuun mura; guddinnii fi mijayiisi haala biyyaalle addatamummuma tanuma irratti hundootti. Karaa biraatiin waaqota dharaa waaqonfatiisii fi ajajama dhabii soorressi-tootaa fi kolbaa gara badi'ii qajeelcheera. Moototi mootummaa kaabaa du-udiin haga ilaallatamaan jiganeeran; dabarsiin mootota Yihuda'aa ammoo marroo namoota hamootaatii fi qajeelotaa odeessiti.

Kitaaba moototaa ka qaraa keessatti irra caalaa ka beekkame raagota Mootii Waan Maraa, worra jajjabaa addee Waaqaa bu'ee jecha Waaqaa dub-batu, kolbaan waaqota dharaa akka hin waaqonsinee fi Waaqaaf ajajamiisa akka hin didanne worra ifi eeggachiisu. Isaan keessaa ka beekkame Eliyaasii fi dabarsiin inni wol morkii hayyoota Ba'aalii woliin godhe (Foor 18).

Haadhoo Dubbi'ii

Muummee Bara Bulchiinsa Daawitii1:1–2:12

Solomoon mootii te'e2:13-46

Bara Bulchiinsa Solomoonii3:1–11:43

Woggoota Qaraa3:1–4:34

Galmi Waaqaa ijaarame5:1–8:66

Woggoota Duubaa9:1–11:43

Mootummaa Gargar Qoqoodante12:1–22:53

Finqila Gosoota Kaabaa12:1–14:20

Mootota Yihuda'aatii fi Israa'elii14:21–16:34

Raagicha Eliyaas17:1–19:21

Ahaabii mootii Israa'elii20:1–22:40

Iyoosaafixii mootii Yihuda'aatii fi Ahaazii mootii Israa'elii22:41-53

Mooticha Daawiti Bara Dullummaa Isaa

¹ Mootichi Daawiti guddoo waan dulloomeef, tajaajiltooti isaa bullukkoo hedduu itti uffisanulle inni o'ifatu hin dandeenne.

² Maarre tajaajiltooti isaa, «Ee Mooticha, durra si woliin jiraattee si tajaajiltu si'iif barbaanna; isiin cinaa teeti irkattee si o'itti» jedhane.

³ Achiin duuba isaan lafa Israa'elii duudii keessa, durra dansittii barbaadane, intala «Abiishaag» jedhantu takka qachaa Shuneemiititti dhagganee, mootichaaf fidane.

⁴ Isiin guddoo dansitti'i; mooticha wolille'een jiraattee isa tajaajilte; te'uu malee inni isii hin tundhe.

Adoniyaan Mootii Te'iisaaf Barbaade

⁵ Adoniyaan ilmi Haagiiti deette, «Ani mootii te'a» jedhee ifi dhikeesse; inni garreettaa fardaan harkifamu, abbootii fardaatii fi namoota shantama ka isa dura deemanu qopheeffate.

⁶ Adoniyaan Abiishaalom irratti dhalate; inni guddoo dansicha; abbaan isaa Daawiti gaafa inni dhalateen jalqabee, «Maaf tana yookiin san goote?» jedhee akka malee isa xixee hin beeku.

⁷ Adoniyaan Yo'aabii ilma Zeruyaana deetee fi hayyicha Abiyaataar woliin mari'ate; isaanille isa qarqaariisaaf wolii galane.

⁸ Ammoo hayyichi Zaadoq, Benaayaan ilmi Yehoyaada'aa, raagichi Naataan, Shime'i, Re'iinii fi eeddotti mooticha Daawitii, yaada Adoniya'aa hin fudhanne.

⁹ Gaafa tokko Adoniyaan dhakaa «Zohélet*» jedhamu, ka madda En-Rogeelii bira jiru biratti hoolota, korommi'ii fi dardaroota cocooma qalee ciincaa dhikeessee, obboleeyyan ifii mara, ilmaan mooticha Daawitiitii fi qondaaltota mootumma'aa ta Yihudaa keessaa mara waame.

¹⁰ Inni ammoo raagicha Naataan, Benaayaa, eeddota mooticha Daawitiitii fi obboleessa ifii Solomoon hin waanne.

Solomoon Mootii Te'e

¹¹ Achiin duuba Naataan Baat-Sheebaa haadha Solomooniitiin, «Daawiti gootnaan keenaa adoo hin beekin Adoniyaan ilmi Haagiiti deette mootii akka te'e ati hin dhageennee?

¹² Tanaaf amma ati lubbuu teetii fi lubbuu ilma keeti Solomoonii akka hamburattu ani sitti gorsa.

¹³ Ammuma gara mooticha Daawitii dhaqiitii, «Ee, gootaa kiyya mooticha, ati ilmi kiyya Solomoon si'iin duuba addee teetitti mootii akka te'u, barcumaa mootumma'aa keeti irralle akka tee'u ana tajaajiltuu teetiif hin kakannee? Eegasuu Adoniyaan maaf mootii te'e ree?» jedhiin.

¹⁴ Adoo ati mooticha Daawiti woliin dubbatiisatti jirtuu, ani dhufee wonni ati dubbatte dhugaa akka teete hin mirkaneessa» jedhe.

¹⁵ Maarre Baat-Sheebaan gara kolloo mooticha dulloomeeru, ta durrittiin Shunamittiin Abiishaag tajaajiliisatti jirtuu seente.

¹⁶ Baat-Sheebaan mooticha duratti jilbiiffattee, fuulaan lafatti gad gombifante; innille, «Ati maan barbaadda?» jedhee gaafate.

¹⁷ Isiin deebittee, «Ee, gootaa kiyya, «Ilmi keeti Solomoon naan duuba addee tiyyatti mootii hin te'a; barcumaa mootumma'aa kiyya irralle hin tee'a» jettee, maqaa Mootii Waan Maraa Waaqa keetiitiin ana tajaajiltuu teetiif kakatteertaayyu.

¹⁸ Amma ammoo adoo ati hin beekin Adoniyaan mootii te'eera.

¹⁹ Inni korommii hedduu, dardara cocoomaa fi hoolota ciincaa dhikeessee, ilmaan teeti mara, hayyicha Abiyaataarii fi ajajaa loltootaa Yo'aab waameera; tajaajilaa keeti ilma keeti Solomoon ammoo hin waanne.

²⁰ Ee, gootaa kiyya mooticha, si'iin duuba addee teetitti mootii ka te'u, eennu akka te'e ati akka hintuuf, kolbaan Israa'elii si eegatiisatti jirti.

²¹ Yoo ati himuu dhadde, ati gootnaan kiyya mootichi duuteen duuba, anii fi ilmi kiyya Solomoon akka yakkaameyyi'ititti hin laakkowanna» jette.

²² Adoo isiin mooticha woliin dubbatiisatti jirtuu, raagichi Naataan ol seene.

²³ Tajaajiltooti, «Raagichi Naataan dhufeera» jedhanee mootichatti himane; Naataanille mooticha dura dhagee fuulaan lafatti gad gombifame.

* 1:9 Sohelet: Afaan Ibrootaatiin bofa jechu'u.

²⁴ Achiin duuba raagichi Naataan, «Ee, gootaa kiyya mooticha, si'iin duuba Adoniyaan addee teetitti mootii akka te'u, barcumaa mootumma'aa keeti irralle akka tee'u beessitteertaa?

²⁵ Guyyaa adhaa Adoniyaan korommii hedduu, dardara cocoomaa fi hoolota ciincaa dhikeessee, ilmaan teeti mara, ajajjoota loltootaatii fi hayyicha Abiyaataar waameera; kunoo isaan amma isa woliin nyaataa, unaa, «Ee mooticha Adoniya'a, bara hedduu mootom!» jedhiisatti jiran.

²⁶ Ammoo ana tajaajilaa keeti, hayyicha Zaadoq, Benaayaa ilma Yehoyaada'aatii fi ilma keeti Solomoon hin waanne.

²⁷ Wonni kun waan ati goottaan kiyya mootichi gootee ree? Ati nama si'iin duuba addee teetitti mootii te'u, ka barcumaa mootumma'aa keeti irralle tee'u, tajaajiltoota teetitti hin hinnee?» jedhe.

²⁸ Achiin duuba mootichi Daawiti, «Deebitee akka dhuttu Baat-Sheebaa naaf waama'a» jedhe; maarre isiin ol seentee mooticha dura dhaabbatte.

²⁹ Achiin duuba mootichi kakatee, «Maqaa Mootii Waan Maraa jiraata'aa, ka rakkoo mara jalaa na baasee,

³⁰ ani, «Ilmi keeti Solomoon anaan duuba mootii hin te'a, barcumaa mootumma'aa kiyya irralle hin tee'a» jedhee, waan maqaa Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'eliitiin si'iif kakadhe, adha hin muummessa» jedhe.

³¹ Achiin duuba Baat-Sheebaan mooticha duratti jilbiiffattee, fuulaan lafatti gad gombifantee, «Gootaa kiyya mooticha Daawiti, jiraadhu!» jette.

³² Achiin duuba mootichi Daawiti, «Hayyicha Zaadoq, raagicha Naataanii fi Benaayaa ilma Yehoyaada'aa naaf waama'a» jedhe. Yennaa isaan mooticha dura dhufane,

³³ mootichi isaaniin, «Tajaajiltoota tiyya woliin dhaqa'aatii, ilma kiyya Solomoon gaangee tiyya irra teessisa'aatii gara madda Giihonii geessa'a.

³⁴ Achitti hayyichi Zaadoqii fi raagichi Naataan isa muudanee mootii Israa'elii godhanuu ti. Achiin duuba tultullaa afuufaa qoonqoo teessan ol qabadha'aatii, «Mooticha Solomoon bara hedduu mootom!» jedha'a.

³⁵ Achiin duuba isin isa gara Yerusaalemii fida'aatii, inni dhufee, barcumaa mootumma'aa kiyya irra tee'ee, addee tiyyatti mootii te'ee bulchuu ti. Ani akka inni bulchaa Israa'eliitii fi Yihuda'aa te'u isa filadheera» jedhe.

³⁶ Ilmi Yehoyaada'aa Benaayaan, deebisee mooticha Daawitiin, «Ameen! Mootiin Waan Maraa Waaqi gootaa kiyya mootichaa waan kana muummessuu ti.

³⁷ Mootiin Waan Maraa akkuma si gootaa kiyya mooticha woliin jiraate, Solomoon wolille'een jiraatuu ti; barcumaa mootummaa isaalle barcumaa mootumma'aa ka si gootaa kiyya mooticha Daawitii caaluuyyuu jabeessuu ti» jedhe.

³⁸ Maarre hayyichi Zaadoq, raagichi Naataan, ilmi Yehoyaada'aa Benaayaan, worri mooticha eeganu Keretoototii fi Pheletoototi Solomoon gaangee Daawitii mootichaa irra teessisane, gara madda Giihonii geessane.

³⁹ Hayyichi Zaadoq gaafa zayitiin ejersaa keessa jirtu Dunkaanii Woyyittii keessaa fuudhee, Solomoon muude; achiin duuba isaan tultullaa afuufanee, kolbaan marti qoonqoo ol qabatee, «Mooticha Solomoon, mootom!» jette.

⁴⁰ Kolbaan marti Yerusaalem keessatti isa gula deemaa, suusullee afuufaa, gammada gudda'aan firinxixanee, hogaa isaaniitiin latti tachoote.

⁴¹ Adoniya'aa fi keessummooti isa woliin jirtu marti, jila muummeffatisatti adoo jiranuu hogaa dhage'ane. Yo'aab qoonqoo tultulla'aa yennaa dhage'e, «Hogaan qachaa keessaa kun marti maan?» jedhee gaafate.

⁴² Adoo inni tana dubbatiisatti jiruu ilmi Abiyaataarii hayyichaa Yonaataan dhufe; Adoniyaan Yonaataaniin, «Ati nama dansaa waan teeteef, oduu dansaa fiddee dhufuu hin dhaddu, ol seen me!» jedhe.

⁴³ Yonaataanille deebisee, «Ani oduu dansaa fidee hin dhunne; goottaan keenna mootichi Daawiti, Solomoon mootii godheera.

⁴⁴ Mootichille hayyicha Zaadoq, raagicha Naataan, Benaayaa ilma Yehoy-aada'aa, worra mooticha eeganu Keretootaatii fi Pheletoota akka isa bookarsanuuf ergeera; isaanille gaangee mootichaa irra isa teessisanee,

⁴⁵ hayyichi Zaadoqii fi raagichi Naataan madda Giihonii biratti, Solomoon muudanee mootii godhane. Achiin duuba kolbaan gammaddee ilillisaa gara qacha'aa deebitee hogisiisatti jirti; hogaan isin dhageettane kun isa.

⁴⁶ Kana maleelle Solomoon barcumaa mootumma'aa irra tee'eera.

⁴⁷ Tajaajiltooti mootumma'aalle gammadaaf, gara mooticha Daawitii dhuttee, «Waaqi keeti maqaa Solomoonii maqaa keeti caalaa ka beekkame, mootummaa isaalle mootummaa teeti caalaa ta jabaatte godhuu ti» jetteerti; mootichi Daawitille taqee ifii irratti gad gombifamee Waaqa waaqonfatiisaan,

⁴⁸ «Sanyii tiyya keessaa nama addee tiyyatti mootii te'ee, barcumaa mootumma'aa kiyya irra tee'u, Ka adha ila tiyyaan na dhaggisiise, Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii leellifamuu ti!» jedheera» jedhe.

⁴⁹ Achiin duuba keessumooti Adoniyaan waame marti sodaatanee ka'ane, karaa karaa bittinnowane.

⁵⁰ Adoniyaan ammoo Solomoon sodaatee, dhaqee gaafa roga addee ciinca'aa irra jiru qabate.

⁵¹ Achiin duuba, «Adoniyaan si sodaatee gaafa roga addee ciinca'aa irra jiru qabatee, «Solomoon ana tajaajilaa isaa shallaaga'aan akka hin ijjeenne adha naaf kakatuu ti» jedhiisatti jira» jedhanee Solomoonitti himane.

⁵² Mootichi Solomoon deebisee, «Inni nama addatamaa yoo te'u te'e, rifeensi mataa isaatuu lafa hin bu'u; hammeenni isa irratti yoo dhaggame ammoo hin du'a» jedhe.

⁵³ Achiin duuba mootichi Solomoon, namoota Adooniya'atti ergee, isaanille addee ciinca'aa irraa isa gad buusane. Adoniyaan dhaqee mooticha Solomooniif gad gombifame; mootichille, «Gara mana keetii deemi» jedheen.

2

Gorsa Daawiti Solomooniif Kenne

¹ Daawiti yennaa du'iisa geye, ilma ifii Solomoon waamee, itti gorsee,

² «Yennaan ani du'u geetteerti; jabaadhu; nama shenicha te'i.

³ Addee ati dhaxxu maratti, wonni ati gootu duudiin akka si'iif milkoottu, waan Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti si irraa barbaadu muummessi; karaa isaa irra ideemi; akkuma Seera Muuse'ee keessatti barreeffante, sirna, ajaja, seeraa fi seerata isaa eegadhu.

⁴ Mootiin Waan Maraa, «Sanyiin teeti gadhaa tokkochaa fi lubbuu takkatti'iin addatamumma'aan ifi eegattee fuula kiyya dura yoo deddeebite, sanyii teeti keessaa nami mootii te'ee, barcumaa mootummaa Israa'elii irra tee'u hin dhabamu» jedhee waadaa naaf gale hin muummessa.

⁵ «Ilmi Zeruyaana deette Yo'aab, ajajjoota loltoota Israa'elii ilma Neerii Abneerii fi ilma Yeterii Amaasaa akka ijjeese, analle waan inni godhe atinuu hin beetta; inni adoo lolli hin jiraatin, yennaa nageyaa keessa isaan ijjeesee, dhiiga isaanii qabattoo hidha ifitii fi kophee miila ifititti akka dibe hin beetta.

⁶ Akka qarummaa teetiititti waan godhamu'uu malte godhi malee, dulloomee nageyaan haga inni du'utti isa hin eegin.

⁷ «Ilmaan Baarzilaayii Giil'aadichaa, yennaa ani obboleessa keeti Abi-ishaalom duraa baqadhe, waan dansaa waan naa godhaneef, atille isa marari; worra qorii teeti keessaa nyaatanu wolille'een nyaatanuu ti.

⁸ «Kunoo, Shime'iin ilmi Geraa Beniyaamichaa ka qachaa Bahuriimii keessa le'u, yennaa ani gara Mahanaayinii dhage, ka akka malee na abaare si woliin jira; te'uu malee yennaa inni na qophatiisaaf gara laga Yordaanosii gad dhufe, ani, «Shallaaga'aan si hin ijjeesu» jedhee maqaa Mootii Waan Maraatiin isaaf kakadheera.

⁹ Amma ammoo ati akka nama yakkaa hin qanneetitti isa hin laakkowin; ati nama qaroo waan teeteef, waan isa gootu hin beetta; dullummaa isaa keessa isa ijjeesi» jedhe.

Du'a Daawitii

¹⁰ Achiin duuba Daawiti du'ee, abbootii ifi ta durii biratti qachaa ifii Yersaalem keessatti awwaalame.

¹¹ Daawiti woggaa torba Kebroon keessatti, woggaa soddonii sad Yersaalem keessatti, wolumatti woggaa afurtama Israa'el bulche.

¹² Solomoon mootii te'ee barcumaa mootummaa abbaa ifii Daawitii irra tee'e; mootummaan isaalle jabaattee dhaabbatte.

Du'a Adoniya'aa

¹³ Achiin duuba Adoniyaan ilmi Haagiiti deette gara Baat-Sheebaa haadha Solomoonii dhage; Baat-Sheebaalle, «Nageyaafuu dhuttee?» jettee gaafatte.

Inni deebisee, «Eeti'i, nageyuma» jedhe.

¹⁴ Achiin duuba inni itti dabalee, «Ani waan sitti himadhu qaba» jedhe.

Isiille, «Himattu ree!» jetteen.

¹⁵ Inni deebisee, «Akkuma ati beettu silaa mootummaan tiyya; Israa'elooti duudiin, «Isattuu mootii nu'uuf te'a» jedhane eegataa turane; ammoo Mootiin Waan Maraa waan isaaf kenneef, dubbiin jijjiirantee, obboleessi kiyya mootii te'e.

¹⁶ Ammalle waan si kadhaddu tokko waan gabuuf, na hin didin» jedhe.

Isiille, «Kadhattu ree!» jetteen.

¹⁷ Inni deebisee, «Mootichi Solomoon si hin didu, Abiishaagii Shuneemittii akka ani fuudhuuf maganne'e isatti naaf himi!» jedhe.

¹⁸ Baat-Sheebaalle, «Dansa'a! Ani mootichatti si'iif hin hima» jetteen.

¹⁹ Maarre Baat-Sheebaan waan Adoniya'aa himiisaaf gara Solomoonii mootichaa dhaxxe; mootichi ol ka'ee haadha ifii nageya fuudhiisaaf gad jedheef; achiin duuba barcumaa mootummaa ifii irra tee'ee, barcumaa mootummaa'aa ka dhibii haadha ifitiif akka fidanu godhee, midda ifititti isii teessise.

²⁰ Isiin mootichaan, «Ani waan diqqoo takka si kadhadda maganne'e na hin didin!» jette.

Mootichille, «Haadha tiyya, si hin didu kadhaddu» jedheen.

²¹ Isiin deebittee, «Abiishaagiin Shuneemittiin, obboleessa keeti Adoniya heerumtuu ti» jette.

²² Mootichi Solomoon deebisee, haadha ifitiin, «Ati Abiishaagii Shuneemittii Adoniya'aaf maaf gaafatta? Inni obboleessa kiyya angaficha waan te'eef, hayyichi Abiyaataarii fi ilmi Zeruya deette Yo'aab isa woliin waan jiranuuf, mootummaa tiyyalle isaaf maaf hin gaafatin ree?» jedhe.

²³ Achiin duuba Solomoon maqaa Mootii Waan Maraatiin kakatee, «Adoniyaan gaaffii akkasii waan gaafateef, yoo inni du'aan hin adabamin Waaqi na ijjeesuu ti.

²⁴ Dhugaa Mootii Waan Maraa ka jiraataa te'ee, ka akkuma waadaa naaf galetti, barcumaa mootummaa abbaa kiyya Daawitii irra jabeessee na dhaabee, mootummaa sanyi'ii tana anaa fi sanyii tiyyaaf kennee, Adoniyaan adhuma hin ijjeefama» jedhe.

²⁵ Maarre mootichi Solomoon, ilmi Yehoyaada'aa Benaayaan akka Adoniyaa ijjeesu ajaje; innille dhagee Adoniyaa dhowee ijjeese.

Ari'amiisa Abiyaataarii

²⁶ Achiin duuba mootichi Solomoon hayyicha Abiyaataariin, «Atille nama ijjeefamu'uuf maleeyyu; ammoo Saanduqa Gondooroo Goottaa Mootii Waan Maraa ba'atee, abbaa kiyya Daawiti dura deemaa, rakkoo isa dhaqqadde duudii isa woliin waan goodanteef ani si hin ijjeesu, gara biyya teetii Anaatoti deemi!» jedhe.

²⁷ Maarre Solomoon hujii Abiyaataar hayyumma'aan Mootii Waan Maraa tajaajilu irraa isa ari'e; tanaaf jechi Mootii Waan Maraa marroo sanyii Eli'iitiif Shiilo'otti dubbate muummowe.

Du'a Yo'aabii

²⁸ Yo'aab, ka yaada Abiishaalomii didee, yaada Adoniya'aa qarqaare, oduu tana yennaa dhage'e, sodaatee gara dunkaanii Mootii Waan Maraa baqatee, gaafa roga addee ciinca'aa irra jiru qabate.

²⁹ Yo'aab gara dunkaanii Mootii Waan Maraa baqatee, addee ciinca'aa bira akka jiru, mootichi Solomoon yennaa dhage'e, ilma Yehoyaada'aa Benaayaan ergee, «Dhaqitii isa ijjeesi!» jedhe.

³⁰ Maarre Benaayaan gara dunkaanii Mootii Waan Maraa dhagee, Yo'aabiin, «Mootichi «Gad bayi» siin jedha» jedhe.

Yo'aab ammoo deebisee, «Lakkii, asumatti du'a!» jedhe.

Benaayaan gara mootichaa deebi'ee, waan Yo'aabii jedhe isatti hime.

³¹ Achiin duuba Mootichi Solomoon Benaaya'aan, «Akkuma Yo'aab siin jedhe, isa ijjeesiitii awwaali; akka kanaan yakkaa Yo'aab dhiiga nama yakkaa hin qannee dhangalaasiisaan nutti fide, anaa fi mana abbaa kiyya irraa qulqulleessi.

³² Abbaan kiyya Daawiti adoo hin beekin, Yo'aab ajajaa loltoota Israa'elii ilma Neerii Abneerii fi ajajaa loltoota Yihuda'aa ilma Yeterii Amaasaa, worra isa caalaa balchaa te'ane, lolee shallaaga'aan waan ijjeeseef, dhiiga inni dhangalaaseef, Mootiin Waan Maraa haluu isa hin baya.

³³ Yo'aab namoota san ijjeesiisaan, yakkaan inni yakke mataa isaatii fi mataa sanyii isaatitti deebituu ti; Daawitii fi maatii isaatiifille, sanyii isaatii fi barcumaa mootummaa isaatiifille ammoo nageenni Mootii Waan Maraa haga bara baraa te'uu ti» jedhe.

³⁴ Maarre ilmi Yehoyaada'aa Benaayaan dhagee Yo'aab dhowee ijjeese; Yo'aab lafa goomole'ee keessatti lafa ifiititti awwaalame.

³⁵ Mootichi Solomoon, ilma Yehoyaada'aa Benaayaa addee Yo'aabiititti ajajaa loltootaa godhe; hayyicha Zaadoq addee Abiyaataariititti hayyicha godhe.

Du'a Shime'ii

³⁶ Achiin duuba mootichi Solomoon Shime'itti ergee, «Ati Yerusaalem keessatti mana ijaaradhuu achi le'i malee, addee dhibii hin deemin.

³⁷ Qachaa Yersaaleemii keessaa baatee, laga Qedroonii yoo gamatti buute dhugumaan akka duutu beeki; dhiiga keetiif si'umatti itti gaafatama» jedheen.

³⁸ Shime'ille deebisee mootichaan, «Wonni ati jette dansa'a; ani tajaajilaan keeti akkuma ati goottaan kiyya mootichi jette hin godha» jedhee, qachaa Yersaaleemii keessa yennaa hedduu le'e.

³⁹ Woggaa sadiin duuba ammoo, garboolee Shime'ii keessaa lama isa durraa baddee, gara mooticha qachaa Gaatii, ilma Ma'aka'aa Akiishitti baqatte. Shime'i garbooleen isaa Gaati akka jirtu yennaa dhage'e,

⁴⁰ harree ifii koora itti qopheeffatee isaan barbaadiisaaf, gara Akiishii mooticha qachaa Gaatii dhaqee, garboolee ifii achitti dhaggee, gara mana ifii fudhatee gale.

⁴¹ Shime'i qachaa Yersaaleemii keessaa bayee, gara qachaa Gaatii dhaqee akka deebi'e, mootichi Solomoon yennaa dhage'e,

⁴² isatti ergee, «Addee dhibii deemiisaaf jettee, qachaa Yersaaleemii keessaa yoo baate akka duutu beeki» jedhee, maqaa Mootii Waan Maraatiin si kakachiisee, ani si ifi eeggachiisee hin jiruuyyuu? Atille, «Wonni ati jette dansa'a! Si'iifille hin ajajama» naan jetteerta.

⁴³ Maarre kakuu maqaa Mootii Waan Maraatiin kakattee fi ajaja kiyya maaf hin eeganne ree?

⁴⁴ Mootichille deebisee, «Yakkaa abbaa kiyya Daawiti irratti hujje duudii gadhaan keeti hin beeka; maarre amma waan hantuu ati hujjeef Mootiin Waan Maraa si hin adaba.

⁴⁵ Ani mootichi Solomoon ammoo hin eebbifama; barcumaan mootummaa Daawitiille haga bara baraa Mootii Waan Maraa duratti jabaatee hin dhaabbata» jedhe.

⁴⁶ Achiin duuba mootichi, akka Shime'i ijjeesuuf, ilma Yehoyaada'aa Benaayaa ajaje; Benaayaalle dhaqee Shime'i dhowee ijjeese. Solomoonille mootummaa san harkatti galfate.

3

Solomoon Qarummaa Dhaggatiisaaf Daadimate (2 Dab. 1:3-12)

¹ Solomoon intala mooticha Gibxi'ii fuudhee isa woliin firoomee; inni mana mootummaa ifitii fi Galma Mootii Waan Maraa ijaaree haga fixutti, Yersaaleemitti dalleya marsee ijaaree haga fixutti, qachaa Daawitii keessa isii keye.

² Yennaa san Galmi Mootii Waan Maraatiif ijaaramee waan hin jirreef, kolbaan addee waaqonfanna'aa irratti ciincaa dhikeessitiyyu.

³ Solomoon seerata abbaa ifii Daawitiititti buliisaan, Mootii Waan Maraa jaalate; te'uu malee addee waaqonfanna'aa irratti ciincaa dhikeessee hix-aana aarse.

⁴ Addeen waaqonfanna'aa ta qachaa Giibe'onii, irra caalaa barbaachittuu waan teeteef, mootichi Solomoon addee ciincaa'aa ta achi jirtu irratti ciincaa dhikeessiisaaf dhage; inni addee ciincaa'aa san irratti ciincaa kuma tokko dhikeesse.

⁵ Halkan san achitti Mootiin Waan Maraa oojju'uun Solomoonitti mudhatee, «Akka si'iif kennu waan barbaaddu na gaafadhu» jedhe.

⁶ Solomoon deebisee, «Abbaan kiyya Daawiti tajaajilaan keeti adda-mumma'aan, balchumma'aa fi qajeelumma'aan si dura waan deddeebi'eef, jaalala keeti guddaa ka bara baraa isaaf mudhitteerta; jaalala keeti guddaa

ka bara baraa kana isaaf eeddee, adhalle ilma addee isaatitti barcumaa mootummaa isaa irra tee'u isaaf kenniteerta.

⁷ Ee Mootii Waan Maraa Waaqa kiyya, ani tajaajilaan keeti addee abbaa kiyya Daawitiititti mootii akka te'u gooteerta; ani ammoo ijoolle'e; attam akka bulchanulle hin beeku.

⁸ Kunoo ani tajaajilaan keeti, kolbaa ati filatte bindillaa laakkowanee hin dhaqqanne odduu jira.

⁹ Tanaaf kolbaa teeti bulchiisaaf, hantu'uu fi dansaa gargar baasee akka beeku, qalbii hubanti'ii ana tajaajilaa keetiif kenni. Yoo akkas hin te'in kolbaa teeti guddoo tana eentu bulchuu dande'a ree?» jedhe.

¹⁰ Solomoon tana waan gaafateef Mootiin Waan Maraa gammade.

¹¹ Maarre Waaqi Solomooniin, «Ati ifiif bara dheeraa le'iisaaf yookiin duroomiisaaf yookiin diinoti keeti akka du'anuuf adoo hin te'in, muraa haqaa kenniisaaf qarummaa waan na gaafatteef,

¹² ani waan ati na gaafatte siif hin godha; qarumma'aa fi hubantii nami tokkoolle tanaan qara hin qanne yookiin haganaa achille dhaggatuu hin dandeenne si'iif hin kenna.

¹³ Ammalle waan ati na hin gaafatin, durumma'aa fi ulfinna si'iif hin kenna; bara jiruu teetii moototi si'iin qixxoottu hin jiraattu.

¹⁴ Akkuma abbaa keeti Daawitii, karaa kiyya yoo deente, seerataa fi ajaja kiyyaaf yoo ajajante, bara keeti si'iif hin dheeressa» jedhe.

¹⁵ Achiin duuba Solomoon hirriibaa dammaqee, akka oojjuu teete hubate; inni gara Yerusaalemii dhagee, Saanduqa Gondooroo Mootii Waan Maraa dura dhaabbatee ciincaa dhikeessee, kennansa tokkumma'aa kenne; tajaajiltoota ifii duudiille'eef jila jilise.

Solomoon Muraa Qarumma'aa mure

¹⁶ Gaafa tokko dubartooti sagaagaltooti lama gara Solomoonii mootichaa dhufanee, isa dura dhaabbatane.

¹⁷ Isaan lamaan keessaa takkattiin mootichaan, «Goottaa kiyya, anii fi dubartittiin tun mana tokko keessa leena; adoo isiin na woliin achi jirtuu ani ilma deye.

¹⁸ Ani ilma deyeen duuba, guyyaa sadeesso'ootitti isiille ilma deette; mana san keessa nu lamaan malee nami dhibiin hin jiruuyyu.

¹⁹ Dubartittiin tun halkan tokko annuu ifii irra waan irkatteef, annuun sun du'e.

²⁰ Achiin duuba ani tajaajiltuun teeti adoo rafeeruu, isiin halkan wodhakkaa kaatee, annuu kiyya cinaa tiyyaa fuutee cinaa ifii irkittee, annuu isi'ii ka du'e cinaa tiyya irkitte.

²¹ Boruuyyaa ganama ani annuu kiyya hoosifatiisaaf yennaa ka'u, isa du'eeru dhagge; barii latti itteertuun hubadhee yennaa ilaale, annuu ani deye akka hin te'in beeke» jette.

²² Dubartittiin tuun ammoo, «Lakkii! Annuun jiru kiyya; ka du'e keeti» jette. Dubartittiin qaraa, «Waawwo'o! Annuun du'e keeti; ka jiru kiyya» jette. Maarre isaan mooticha duratti wol moromane.

²³ Achiin duuba mootichi Solomoon, «Dubartiin tun, «Annuun jiru kiyya; ka du'e keeti» jetti; tuunille, «Lakkii! Annuun du'e keeti; ka jiru kiyya» waan jettuuf,

²⁴ shallaagaa natti fida'a!» jedhe; isaan shallaagaa isatti fidane.

²⁵ Achiin duuba inni isaaniin, «Annuu jiru addee lamatti gargar baqassa'aatii, gama tokko dubartii takka'aaf, gama kaan dubartii taaniif kenna'a» jedhee ajaje.

²⁶ Dubartittiin annuu isi'ii lubbu'uun jiru ammoo annuu ifitiif naatee, «Magganne'e mooticha kiyya, annuu jiru isi'iif kenni malee, hin ijjeesin» jette. Dubartittiin tuun ammoo, «Aana fi isiille'eef hin kennin; addee lamatti gargar baqaffamuu ti» jette.

²⁷ Achiin duuba mootichi Solomoon, «Annuu jiru hin ijjeesina'a; dubartittii qaraatiif kenna'a; isiin haadha isaa ti» jedhe.

²⁸ Kolbaan Israa'elii marti muraa Solomoon kenne yennaa dhageette, akka inni muraa haqaa muriisaaf Waaqa biraa qarummaa dhaggate beettee, ulfinna guddaa isaaf kennite.

4

Bulchitoota Solomoon File

¹ Solomoon Israa'el mara irratti mootii te'ee,

² bulchitooti gugurdoon inni file:

Ilma Zaadoqii Azaariyaa hayyicha,

³ Ilmaan Shiisha'aa Eliihoreefii fi Ahiyaan barreessitoota mana mootumma'aa, ilma Ahiiludii Yoshaafaax barreessaa dabarsi'ii,

⁴ Ilma Yehoyaada'aa Benaayaan ajajaa loltootaa,

Hayyoota keessaa Zaadoqii fi Abiyaataar,

⁵ Ilma Naataanii Azaariyaa itti gaafatamaa bulchitoota lafaa,

Ilma Naataanii Zaabudii hayyicha gorsaa mootichaa,

⁶ Ahiishaar itti gaafatamaa mana mootumma'aa,

ilma Abda'aa Adoniiraam itti gaafatamaa worra hunnaan hujii hunnaa hujanuu ti.

⁷ Akkasuma Solomoon Israa'el mara irratti bulchitoota kutaa biyyaa kudhanii lama, ta mooticha fi worra mana mootichaa keessa jiru maraaf soorata dhikeessitu qabaayyu; tokko tokkoon isaaniituu woggaa keessatti ji'a tokko soorata dhikeessuu qabaniyyu.

⁸ Maqaan isaanille ka asii gad jiru:

Ben-Huur ka kutaa biyyaa lafa koobittii Efreemii bulchu,

⁹ Ben-Deqer ka qachoota Maaqaaz, Sha'aalbiim, Bet-Shemeshii fi Eloonii-Bet-Banaan bulchu,

¹⁰ Ben-Hesed ka qachoota Aruboot, Sokoo fi lafa Heferii mara bulchu,

¹¹ Ben-Abinaadaab ka qachoota Nafat-Doorii mara bulchu, intala Solomoonii Xaafeti ka fuudhe,

¹² Ilma Ahiiludii Ba'anaa ka qachoota Ta'ana'aatii fi Megidoo, Bet-Shaanii cinaa Zaaretaana'aa ta Yizre'eliin jalaa, akkasuma lafa Bet-Shaanii irraa kaasee, Yaaqne'aam qaxxaamuree haga Abeel Meholaatii ka bulchu,

¹³ Ben-Geber qachoota Raamoot-Giili'aad keessaa, olloota fira ilma Mi-naase'ee ka Yaa'iirii ka Giil'aad keessaa, lafa Argoobii ka Baashaan keessaa, wolumatti qachoota gugurdaa jaatama ka dalleya dhaka'aatii fi karra danqaraa sibiila sageettu'uu qabu ka bulchu,

¹⁴ Ilma Iddoo Ahiinaadaab ka lafa Mahanaayimii bulchu,

¹⁵ Ahimaaz ka kutaa biyya Niftaalemii bulchu, intala Solomoonii Baase-mati ka fuudhe,

¹⁶ Ilma Hushaayii Ba'anaa ka kutaa biyya Asheeriitii fi qachaa Aalotii bulchu,

¹⁷ Ilma Phaaruu Yoshaafaax ka kutaa biyya Yisaakorii bulchu,

¹⁸ Ilma Elaa Shime'i ka kutaa biyya Beniyaaminii bulchu,

¹⁹ Ilma Urii Geber ka kutaa biyya Giil'aadii lafa duri Sihooniin mootii Amoorotaatii fi mootiin Baashaanii Oog bulchaa turane bulche.

Lafa duudii ka bulche bulchaan dhibiin tokko jiraayyu.

Mootummaa Guddittii Solomoonii

²⁰ Kolbaan Yihuda'aatii fi Israa'elii akka maansa qarqara abbaaya'aa baca'a; isaan nyaataa, unaa gammadaniyyu.

²¹ Solomoon biyya mootummoota laga Efraaxiisiitiin jalqabee, haga lafa Filisxeemotaatii fi haga meessaa biyya Gibxi'ii duudii bulche; kolbaan biyya sanii duudiin isa gabbaraa, bara jiruu isaa duudii isa tajaajilte.

²² Sagaleen guyyaa guyya'aan mana mootummaa Solomooniitiif barbaachitu bullaa dansaa kuntaala soddoma, bullaa sharoo kuntaala jaatama,

²³ sangoolee manatti gabbisane kudhan, sangoolee diida dheeddu diddama, hoolee dhibba tokko, kana biratti gadansa, buddannee, qorkee, lukkuu gagabboo.

²⁴ Solomoon lafa laga Efraaxiisii irraa gara aduun seentu, qachaa Tiifsaahii irraa haga Gaaza'aatitti jirtuu fi mootota achi keessa jirtu mara bulche; inni biyyoota ollaa ifii wolille'een nageya qabaayyu.

²⁵ Bara jiruu Solomoonii kolbaan Yihuda'aatii fi Israa'elii marti, Daan irraa haga Bersheeba'aatitti ta jirtu, muka woyni'itii fi harru'uu ifii jalatti nageyaan leete.

²⁶ Solomoon gola fardoo garreettaa harkittuu kuma afurtamaa fi abbootii fardo'oo kuma kudhanii lama qabaayyu.

²⁷ Bulchitooti kudhanii lama tokko tokkoon isaaniituu woggaa keessatti ji'a isaaniif qabametti, soorata mootichaa fi worra qorii mootichaa keessaa sooratanuuf barbaachisu, womaa adoo irraa hin dhidhisin dhikeessaniyyu.

²⁸ Akkasuma isaan fardoo garreettaa fardaan harkifamuutii fi fardoo dhibi'iifille garbu'uu fi hicaacee, gara addee barbaachittee dhikeessaniyyu.

Qarummaa Solomoonii

²⁹ Waaqi qarummaa'aa fi hubantii guddoo, yaada badhaa ka akka maansa qarqara abbaaya'aa ka laakkowanee hin dandeennee Solomooniif kenne.

³⁰ Qarummaan Solomoonii qarummaa namoota gara aduun baatuutii fi qarummaa worra Gibxi'ii mara caalti.

³¹ Inni namoota qarolee akka Etaanii Ezraahicha, ilmaan Maaholii Hemaan, Kalkoolii fi Dardaa caalaa qaro'o; gurri isaalle biyya gosa adda addaa ta adaala isaa jirtu mara keessatti beekkame.

³² Solomoon mammaassa kuma sad mammaake; faaruun isaalle kuma tokkoo fi shan.

³³ Inni marroo mukaa, muka hindheensa Libaanoniitiin jalqabee haga biqiltuu baaldo'oo ta dalleya irratti lattuu dubbateera; akkasuma marroo bineensotaa, marroo sinbirrootaa, marroo bineensota gadha'aan lafa irra lowanuutii fi marroo qurxummi'ii dubbateera.

³⁴ Gosa biyya adda addaa keessaa, mootota biyya lafaa ta qarummaa Solomoonii dhage'aneeranu mara biraa, namooti qarummaa Solomoonii caqasiisaaf ergamanee dhufane.

5

Solomoon Galma Waaqaa Ijaariisaaf Qopheeffate

¹ Hiiraam mootiin Xiirsoosii Daawiti woliin yennaa mara jaala waan te'eef, akka Solomoon addee abbaa ifiititti mootii te'e yennaa dhage'e, ergantoota ifii gara isaa erge.

² Solomoonille ergaa asii gad jirtu tana Hiiraamitti ergee,

³ «Abbaan kiyya Daawiti sababa diinota karaa maraan isatti ka'aneef, haga Mootiin Waan Maraa injifachaa isaaf kennutti, Mootii Waan Maraa Waaqa ifitiif Galma Waaqaa ijaaruu akka hin dande'in ati hin beetta.

⁴ Amma ammoo Mootiin Waan Maraa Waaqi karaa maraan nageya naaf kenneera; diinni yookiin wonni hantuun hin jirtu.

⁵ Waaqi abbaa kiyya Daawitiin, «Ilmi keeti ka ani addee teetitti mootii godhee, barcumaa mootumma'aa irra teessisu, Galma naaf hin ijaara» jedhee dubbateera; tanaaf ani amma Mootii Waan Maraa Waaqa kiyyaaf Galma Waaqaa ijaariisaaf hedeera.

⁶ Maarre nama akka worra Sidoonii muka muruu beeku, akka nuuti hin qanne hin beetta; namoota keetiif mindaa ati jette ani hin kaffala, tajaajiltoota tiyya woliin dhaqanee, Libaanon keessaa hindheensa akka naaf muranu, namoota keeti naaf ergi» jedhe.

⁷ Hiiraam ergaa Solomoonii yennaa dhage'e, guddoo gammadee, «Gosa guddoo tana akka bulchu, Mootiin Waan Maraa ilma qaroo Daawitiif kenne, adha leellifamuu ti!» jedhe.

⁸ Achiin duuba Hiiraam Solomoonitti ergee, «Ergaan teeti na dhaqqaddeerti; muka hindheensaatii fi birbirsaa dhikeessiisaan waan ati barbaadde mara si'iif hin godha.

⁹ Namooti kiyya jigeessota Libaanonii gara abbaaya'aatitti harkisaa gad hin fidan; addee ati barbaadde akka si'iif gewu, wolitti hiisisee abbaayaa irra deensisee si'iif hin erga; achitti ani gargar hiikisiisee, atille hin fudhatta; atille worra mana kiyya keessa jiruuf sagalee dhikeessiisaan fedha kiyya hin guutta» jedhe.

¹⁰ Maarre Hiiraam akka kanaan muka hindheensaatii fi birbirsaa ka Solomoon barbaade mara dhikeesseef.

¹¹ Solomoonille worra mana Hiiraamii keessa jiranuuf qamadii kuntaala kuma diddamaa akkasuma zayitii ejersaa qulqulluu litirii kuma dhibba afurii woggaa wogga'aan kenneef.

¹² Mootiin Waan Maraa akkuma waadaa galetti Solomooniif qarummaa kenne; Hiiraamii fi Solomoon wodhakkaa nageenni waan jiruuf, isaan lamaanuu wolii galane.

¹³ Mootichi Solomoon lafa Israa'elii mara keessaa, namoota hunnaan hujii hunnaa hujanu kuma soddoma file.

¹⁴ Adoniiraam itti gaafatamaa namoota hunnaan hujii hunnaa hujanu godhe; inni kuma kudhan kudhaniin addee saditti isaan qoodee, badoo bado'oon, ji'a tokko Libaanon keessa, ji'a lama mana ifi akka turanu godhe.

¹⁵ Solomoon ammalle biyya koobittii keessatti worra ba'aa ba'atu kuma torbaatamaa fi worra dhakaa bocu kuma saddeettama qabaayyu.

¹⁶ Akkasuma toowattoota hujii tanaa namoota kuma sadii fi dhibba sad qabaayyu.

¹⁷ Isaan ajaja mooticha Solomooniitiin, dhakaa gugurdaa gatii guddo'oo ka hundee Galma Waaqaatiif te'u, qotanee baasane bocanee fidane.

¹⁸ Namooti hujii harkaa hujanu ka Solomooniitii fi Hiiraamii, namooti biyya Gebaaliille Galma Waaqaa ijaariisaaf, muka muranee, dhakaa bocanee qopheessane.

6

Solomoon Galma Waaqaa Ijaare

¹ Kolbaan Israa'elii biyya Gibxi'iitii baateen duuba, woggaa dhibba afurii fi saddeettamatti, Solomoon biyya Israa'elii irratti mootii te'ee, woggaa

arfeesso'oo, ji'a lammeesso'oo, ka «Ziif» jedhamu keessa, Galma Waaqaa ijaariisa jalqabe.

² Galmi Waaqaa ka mootichi Solomoon ijaare sun, dalla dheerinni isaa ciqilee jaatama, badhinni isaa ciqilee diddama, hojjaan isaa ciqilee sodoma.

³ Dheerinni soroo kutaa guddittii Galma Waaqaatiin duraa, akkuma badhinna Galma Waaqaa ciqilee diddama teetee, karaa Galma Waaqaatiin duraan ciqilee kudhan dheeratti.

⁴ Galmi Waaqaa sun foddada gara keessaatiin badhattee, gara alaatiin dhiphattu qabaayyu.

⁵ Solomoon kutaa guddittii Galma Waaqaatitti maxxansee, adaala addee woyyitti'ii fi addee irra caalaa woyyitti'iititti, mana dhibii ka kolloo adda addaa qabu itti marsee ijaare.

⁶ Badhinni mana jalaa ciqilee shan, ka mana mana irratti ijaaramee ka wodhakka'aa ciqilee jaa, ka mana mana irratti ijaarame ka sadeesso'oo ciqilee torba. Muki tokkolle ijaarsa Galma Waaqaa uree akka hin seenneef, gara duubaatiin itti marsee, kaabii ijaare.

⁷ Dhakaan Galmi Waaqaa sun ittiin ijaarame, adduma dhakaan jirutti bocamee waan qophoweef, Galmi Waaqaa yennaa ijaaramu, qoonqoon burrisaa, ta ura'aa yookiin ta sibiila dhibi'ii hin dhage'ane.

⁸ Balbalti seensuma mana jalaa, Galma Waaqaa irraa gara kibbaatitti dhagganti; yaabbannoo gara mana mana irraa ka wodhakka'aatii fi ka sadeesso'ootitti ol bayanulle qaba.

⁹ Maarre mootichi Solomoon, Galma Waaqaa ijaaree fixe; heellichoo Galma sanii buusaa muka hindheensaa dalla buusee, falaxaa birbirsatiin cufe.

¹⁰ Inni karaa maraan Galma Waaqaatitti marsee kolloota ijaare; hojjaan kolloota sanii ciqilee shan; kolloon sunille buusaa muka hindheensaatiin, Galma Waaqaatiin wolitti qassiifanteerti.

¹¹ Jechi Mootii Waan Maraa gara Solomoonii dhufee,

¹² «Akka seerata kiyyaatitti yoo deddeebite, seeraa fi ajaja kiyya yoo eegatte, Galma Waaqaa ka ati ijaariisatti jirtu kanaaf, waan abbaa keeti Daawitiif waadaa gale, ani karaa keetiin hin muummessa.

¹³ Ani Israa'eloota odduu hin le'a; ani kolbaa tiyya Israa'el hin gatu» jedhe.

¹⁴ Maarre Solomoon Galma Waaqaa ijaaree fixe.

Ijaarsa Keessa Galma Waaqaa

¹⁵ Inni keessa Galma Waaqaa hundee isaatiin jalqabee, haga heellichoo'ootitti falaxaa muka hindheensaa itti siree, lafa keessa Galma Waaqaa falaxaa birbirsatiin huje.

¹⁶ Galma Waaqaa keessatti, gara duubaatiin, Addee Irra Caalaa Woyyittii addaan baasiisaaf, kolloo ciqilee diddamaa, lafa irraa kaasee haga heellichoo'oo falaxaa muka hindheensaa itti siree.

¹⁷ Kutaan guddittiin Addee Irra Caalaa Woyyittii duratti dhaggantu ciqilee afurtama dheeratti.

¹⁸ Keessi Galma Waaqaa falaxaan muka hindheensaa itti gonfamee, fakkeenaa buqqi'iitii fi daraaraa baqeetiin seefameera; falaxaa muka hindheensaa malee, dhakaan tokkoolle hin mudhatuuyyu.

¹⁹ Inni Galma Waaqaa keessatti, gara duubaatitti, saanduqa gondoosoo Mootii Waan Maraa keessa keyiisaaf, Addee Irra Caalaa Woyyitti'ii ta gara keessaa ijaare.

²⁰ Addeen Irra Caalaa woyyitti'ii tun dheerinni isi'ii ciqilee diddama, badhinni isi'ii ciqilee diddama, hojjaan isi'iille ciqilee diddama; inni keessa

isi'ii worqii qulluu itti gonfe. Addee ciinca'aalle falaxaa muka hindheensaa itti uffise.

²¹ Solomoon keessa Galma Waaqaa worqii qulluu itti gonfee, Addee Irra Caalaa Woyyitti'ii ta worqi'iin gonfante san dura, haachaba worqi'ii diriirsee.

²² Maarre inni keessa Galma Waaqaa duudii worqii itti gonfe; addee ciinca'aa ta Addee Irra Caalaa Woyyitti'ii ta gara keessaa keessaalle worqii itti gonfe.

²³ Solomoon fakkii dada ol-gubba'aa ta koola qaddu lama ta dheerinni tokko tokkoo isaanii ciqilee kudhanii, muka ejersaa irraa hujee, Addee Irra Caalaa woyyitti'ii ta gara keessaa keessa keye.

²⁴ Koalli dada ol-gubba'aa ta qaraa ka gama tokkoo ciqilee shan; ka gama kaanille ciqilee shan dheerata; qaccee koola gama tokkoo irraa haga qaccee koola gama kaanii ciqilee kudhan dheerata.

²⁵ Koalli dada ol-gubba'aa ta koola qadduu ta lammeesso'oolle ciqilee kudhan dheerata; dadi ol-gubba'aa sun lamaanuu hagi isaaniitii fi akki isaanii wol fakkaatan.

²⁶ Hojjaan dada ol-gubba'aa ta koola qadduu ta tokko tokkootuu ciqilee kudhan.

²⁷ Solomoon koalli dada ol-gubba'aa ta koola qadduu ta lamaaniituu akkuma diddiriireeruun, dada ol-gubba'aa san Addee Irra Caalaa Woyyitti'ii ta gara keessaa san keessa keye; koalli dada ol-gubba'aa ta koola qadduu ka tokkochaa dhaaba manaa ka gama tokkoo tuqa; koalli dada ol-gubba'aa ka lammeesso'oo dhaaba manaa ka gama kaanii tuqa; koalli isaanii dhibiin wodhakkaa Addee Irra Caalaa Woyyittii sanitti wol tuqaayyu.

²⁸ Inni dada ol-gubba'aa ta koola qaddu lamaanuu worqii itti gonfe.

²⁹ Dhaaba Galma Waaqaa mara irratti, kolloo gara keessaatii fi gara alaa irratti fakkii dada ol-gubba'aa ta koola qaddu, fakkii muka meexxi'iitii fi fakkii daraaraa baqee boce.

³⁰ Inni lafa addee Irra Caalaa Woyyitti'iitii fi lafa Galma Waaqaa keessaalle worqii itti gonfe.

³¹ Balbala gara Addee Irra Caalaa woyyittii seenanu ta gara lamatti banantu, ta mikikkilaa fi gulantaa roga shanii qaddu, muka ejersaa irraa hujee.

³² Inni balbala muka ejersaa irraa hujante lamaanuu irratti fakkii dada ol-gubba'aa ta koola qadduu, fakkii muka meexxi'iitii fi fakkii daraaraa baqee tolchisiisee, fakkii dada ol-gubba'aa ta koola qadduu fi fakkii muka meexxi'ii kana irratti worqii itti gonfe.

³³ Akkasuma inni balbala gara kutaa gudditti'ii seenanutti mikikkila roga afurii muka ejersaa irraa hujee.

³⁴ Inni balbala lama ta wolitti dachaafantee banantu, ta tokko tokkoon isi'iituu, saanqaa lama lama qaddu, muka hindheensaa irraa hujee.

³⁵ Inni balbala san irratti fakkii dada ol-gubba'aa ta koola qadduu, fakkii muka meexxi'iitii fi fakkii daraaraa baqee tolchisiisee, fakkii san irratti worqii gonfe.

³⁶ Inni Galma Waaqaatiin duratti badhinna dalleya keessaa ka gara keessaa, dhakaa bocame tarree sadiin, saanqaa muka hindheensaa tarree tokkoon ijaare.

³⁷ Solomoon mootii te'ee woggaa arfeesso'ootitti, ji'a lammeesso'oo, ka «Ziif» jedhamu keessa, hundeen Galma Waaqaa keyante.

³⁸ Inni mootii te'ee woggaa kudhanii tokkeesso'ootitti, ji'a saddeetesso'oo, ka «Bul» jedhamu keessa, akkuma dur karoorri bayetti, ijaarsi Galma Waaqaa muummowe. Solomoon Galma Waaqaa woggaa torbatti ijaaree fixe.

7

Solomoon Mana Mootummaa Ifii Ijaarrate

¹ Solomoon mana mootummaa ifii ijaaree woggaa kudhanii saditti fixe.

² Inni mana mootummaa'aa, ka «Gongomaa Libaanonii» jedhamu, ka dheerinni isaa ciqilee dhibbaa, badhinni isaa ciqilee shantamaatii fi hojjaan isaa ciqilee soddomaa ijaare; manni mootummaa'aa kun utuboota hindheensaa ka tarree afuritti dhaabbatee, buusaa hindheensaa utubeeru qabaayyu.

³ Tarree tokko tokkoo irra utuboota kudhanii shan, wolumatti utuboota afurtamii shan qaba; utuboota kana gubba'atti heellichoo muka hindheensaa irraa hujantetti jira.

⁴ Manni kun foddaa tarree sad sadii ka fuullee wolii jiranu qaba.

⁵ Balbaltii fi foddaan martinuu mikikkiloota roga afurii qaban; foddaan tarree sad sadiin fuullee wolitti galteerti.

⁶ Solomoon galma utuboota heddu'uu, ta dheerinni isi'ii ciqilee shantamaa, badhinni isi'ii ciqilee soddomaa ijaare; kutaa guddittii san dura soroo utuba'aan utubanteertutti jiraayyu.

⁷ Solomoon galma barcumaa mootummaa'aa, galma haqaa, addee tee'ee muraa kennu ijaaree, lafaa kaasee, haga heellichoo'ootitti muka hindheensaatiin golle.

⁸ Manni isaa ka inni keessa le'u, galma haqaatiin wol fakkaata; manni kunille galma haqaa irraa gara duubaatiin jira; Solomoon haadha manaa ifii, intala mooticha Gibxi'iitiifille mana galma haqaatiin wol fakkaatu ijaare.

⁹ Ijaarsi kun duudiin alaa haga badhinna guddicha dalleya keessaatitti, hundee ijaarsaatiin jalqabee, haga jinjimaatii isaatitti, dhakoota gatii guddo'oo ka wol qixxee te'ee, duraa fi duubaan bocameen ijaarame.

¹⁰ Hundee ijaarsa kanaa, dhakoota gugurdaa gatii guddo'oo, ka dheerinni isaanii ciqilee saddeetiitii fi ka ciqilee kudhaniititti keyame.

¹¹ Dhakoota gugurdaa kana irra, dhakoota wol qixxee te'ee bocamee fi buusaa hindheensaa hedduun jiran.

¹² Badhinni guddichi dalleya keessaa, akkuma badhinna dalleya keessaa ka Galma Mootii Waan Maraa ka gara keessaatii fi soroo isaa, dalleya dhaka'aa, dhakaa bocame tarree sadii fi buusaa hindheensaa tarree tokkoon marfamee ijaarameera.

Hiiraam Yerusaaalem Geye

¹³ Mootichi Solomoon gara biyya Xiirrosii nama ergee, Hiiraam waansise.

¹⁴ Haati Hiiraamii haadha hiyyeessaa ti; isiin gosa Niftaalemii ti; abbaan isaa nama biyya Xiirrosii, ogeessa sageettu'uu ti. Hiiraam hujii sageettu'uu mara huijaan qarummaa'aan, hubanti'ii fi beekkumsa gudda'aan nama guutameeru; inni gara Solomoonii mootichaa dhufee, hujii isaaf kennante mara hujje.

Utuboota Sageettu'uu Lama

¹⁵ Hiiraam utuboota sageettu'uu lama, ka tokko tokkoon isaatu, hojjaan isaa ciqilee kudhanii saddeetii, furdinni isaalle ciqilee kudhanii lamaa hujje.

¹⁶ Inni ammalle mataa utuboota lamaanii irra keyiisaaf, sageettuu baqisiisee guutuu lama ta tokko tokkoon isi'ii ciqilee shan dheerattu hujje.

¹⁷ Guutuu mataa utubootaa irra jirtu san seesiisaaf, tokko tokkoo isi'iitiif, sageettuu irraa caccuu haachabaa torba torba hujje.

¹⁸ Inni guutuu utubootaa seesiisaaf, sageettuu akka midhaan «Rumaan» jedhamuu, haachaba sanitti naannessee tarree lamatti hujje; guutuu lamaanii ifuu ta wol fakkaatu hujje.

¹⁹ Guutuun mataa utuboota soro'oo irra jiranu, ciqilee afur dhedheerata-nee, fakkii daraara'aa qaban.

²⁰ Guutuu utuboota lamaaniituu irratti, haachabatti aanee, fakkii akka qori'ii jirtu gubbaa, wonni akka midhaan «Rumaan» jedhamuu, dhibbi lama tarree lamatti dirameera.

²¹ Hiiraam utuboota lamaan san, soroo Galma Waaqaa duratti dhaabe; utubaa gara kibbaa «Yaakiin*» jedhee moggaase; utubaa gara kaabaa «Bo'az†» jedhee moggaase.

²² Guutuun utuboota san irra jirtu fakkii daraara'aatiin hujanteerti.

Maarre hujjin utubootaa akka kanaan muummotte.

Waabaa Sageettuu Irraa Hujame

²³ Hiiraam sageettuu baqisiisee, waabaa bisaanii ka badhinni keessa isaa ciqilee kudhanii, hojjaan isaa ciqilee shanii, marsi bukke isaa ciqilee soddomaa huje.

²⁴ Irga afaan waaba'aatiin jala gara duubaatiin, fakkiin buqqi'ii kudhan ta sageettuu irraa hujante, ciqilee tokko tokkotti kudhan kudhaniin, tarree lama lamaan marfanteerti.

²⁵ Waabaan bisaanii sun, dudda fakkii korommii kudhanii lamaa, ta sageettuu irraa hujantee, sad gara kaabaa, sad gara kibbaa, sad gara aduun baatu, sad gara aduun seentutti fuula galanee hudduu wolitti galaneeranu irra dhaabbateeraayyu.

²⁶ Furdinni waabaa sanii haga ganaa harkaa ti; irgi afaan isaalle akka irga afaan muduunu'uu hujamee, fakkii daraara'aa fakkaata; waabaan kun bisaan gara litirii kuma afurtamaa qabata.

²⁷ Hiiraam sageettuu irraa waan meya irra keyatanu, ka korboo qabu kudhan huje; tokko tokkoon isaanii dheerinni ciqilee afur, badhinni ciqilee afur, hojjaan ciqilee sad.

²⁸ Akki wonni meya irra keyanu kun hujamane asii gad jira: isaan sageettuu baxxittii roga afurii ta kiphaa qajeelee dhaabbattetti qassiifante qabaniyyu.

²⁹ Sageettuu baxxittii wodhakkaa kiphaa qajeelee dhaabbate san jirtu irratti fakkiin neenqotaa, korommi'iitii fi dada ol-gubba'aa ta koola qaddutti kaafameera; kiphaa qajeelee dhaabbate san irralle'etti akkasuma godhe; fakkii neenqotaatii fi korommi'ii san gubba'aa fi jalatti fakkii daraaraa marametitti irratti qiriixameera.

³⁰ Wonni meya irra keyanu tokko tokkoon isaaniiituu korboo sageettuu irraa hujante afurii fi ulee sibiila sageettu'uu ta korboon irra garagaggaltu wolitti qassiittu lama qaban; gama arfanuu irra utuboota qorii itti dhiqatanu kiphu afuritti jiraayyu; utubooti sun fakkii daraaraa maramee ka sageettuu irraa baqisiifamee hujamee qabaniyyu.

³¹ Waan meya irra keyanu san gara keessaatiin, qoriin itti dhiqatanu sun xiyyoo ciqilee tokko dheerattu qaddi; afaan qorii itti dhiqatanu sanii koobbicha; ciqilee tokko dheerata; morma irralle'etti seesa qaba; wonni meya irra keyanu sun koobbicha adoo hin te'in, roga afur qaba.

³² Korboon arfanuu, sageettuu baxxittii waan meya irra keyanu san jala jirti; uleen sibiila sageettu'uu, ta korboon irra garagaggaltu, waan meya irra keyanu saniin wolitti qassiifanteerti; badhinni korboo tokko tokkootuu ciqilee tokkoo fi wodhakka'a.

* **7:21** Yaakiin: Afaan Ibrootaatiin *Inni hin dhaaba* jechu'u.

† **7:21** Bo'az: Afaan Ibrootaatiin *jabeenna isaatiin* jechu'u.

³³ Korboon tun korboo garreettaa fardaan harkifamuu fakkaatti; uleen isi'ii, rogi afaan isi'ii, dagaleen isi'iitii fi urati uleen isi'ii keessa seenu, sageettuu irraa hujame.

³⁴ Wonni meya irra keyanu tokko tokkoon isaatuu, roga arfanuu irratti waan qabatanu qaban.

³⁵ Qaccee waan meya irra keyanuu irra, wonni akka qube'ee naannef-famee, taakkuu tokko ol dheeratu jira; utubootaa fi sageettuun baxxittiin isaa, mataa waan meya irra keyanuu woliin, wolitti qassiifamaneeran.

³⁶ Inni utubootaa fi sageettuu baxxittii irratti, addee duwwaa jirtu mara irratti, fakkii Dada ol-gubba'aa ta koola qadduu, fakkii neengotaatii fi fakkii muka meexxi'ii, daraaraa marame woliin cinaa isaanii mara irratti qiriixee huje.

³⁷ Hiiraam akka kanaan waan meya irra keyanu kudhan huje; wonni meya irra keyanu kun martinuu, addee takka'atti waan baqisiifamaneef, haggii fi akki isaanii martinuu tokkochuma.

³⁸ Hiiraam sageettuu irraa, waan meya irra keyanu tokko tokkoofuu, qorii itti dhiqatanu kudhan, ta bisaan gara litirii dhibba saddeeti qabattu huje; badhinii qorii tokko tokkootuu ciqilee afur.

³⁹ Inni waan meya irra keyanu san keessaa shan, Galma Waaqaa irraa gara kibbaa, shan gara kaabaa keye; qorii itti dhiqatanu ammoo, roga Galma Waaqaa irra kibba irraa gara baya adu'uutitti keye.

Hiiraam Meya Galma Waaqaa Mara Hujee Muummesse

⁴⁰ Hiiraam ammalle okkotee, waan daadhaa ittiin haranuu fi qorii dhiiga fiffixanu qabattu huje; inni akka kanaan hujii Galma Waaqaa ta mooticha Solomooniif hujjisa jalqabe muummesse; meyi inni huje ka asii gad jiru:

⁴¹ Utuboota lama, qaccee utubootaa irratti guutuu akka qori'ii jirtu lama, waan akka haachabaa lama, ta guutuu utuboota irraa lama ittiin seesanu,

⁴² haachaba lama, guutuu akka qori'ii jirtu lama ta qaccee utuboota irraa seesiisaaf, tarree lamaan ka hujame waan akka midhaan «Rumaan» jedhamuu dhibba afur,

⁴³ waan meya irra keyanu kudhan, qorii itti dhiqatanu kudhan woliin,

⁴⁴ waabaa bisaaniitii fi fakkii korommi'ii kudhanii lama ta isa jala jirtu.

⁴⁵ Okkotee, waan daadhaa ittiin haranuu fi qorii dhiiga fiffixanu qabattu, Hiiraam tajaajila Galma Waaqaatiif meya kana mara mooticha solomooniif, sageettuu morodante irraa huje.

⁴⁶ Mootichi Solomoon waan kana mara dhooqa Yordaanosii keessatti, addee sibiila itti baqisiisanu ta faara irraa hujante ta Suukootii fi Zaaretaan wodhakkaa jirtu keessatti hujisiise.

⁴⁷ Mey kun bacaa waan te'eef, mootichi Solomoon hin madaalchinne; tanaaf madaalliin sageettu'uu hagam akka te'e hin beekkanne.

⁴⁸ Solomoon ammalle tajaajila Galma Waaqaatiif, meya asii gad jiru hujisiise; meyi kunille addee ciinca'aa ta worqii irraa hujante, xarapheessaa worqii irraa hujame ka daabboo Waaqa dura dhikaattu irra keyanu,

⁴⁹ meya worqii qulluu irraa hujame waan issaan irra keyamu, ka addee irra caala woyyittii ta gara keessaa dura, shan gara kibbaatiin, shan gara kaabaatiin keyanu, daraaraa, issa'aa fi qaraphaa ibiddaan tuqanu,

⁵⁰ muduunuu, qaraphaa issa'aan dhaanfanu, qorii dhiiga fiffixanu qabattu, girgiraa, waan ibidda irratti bobbeessanu, maaxafaa balbala kolloo Addee Irra Caalaa Woyyittii ta gara keessaatii fi ka kutaa guddittii Galma Waaqaa ka worqii qulluu irraa hujame huje.

⁵¹ Mootichi Solomoon hujii Galma Waaqaa mara fixeen duuba, abbaan isaa Daawiti tajaajila Galma Waaqaatiif waan addaan baase mara meetii, worqi'ii fi meya dhibii addee meya Galma Mootii Waan Maraa massanutti masse.

8

Saanduqa Gondooro'oo Galma Mootii Waan Maraatitti Galchane

¹ Achiin duuba mootichi Solomoon Saanduqa Gondooro'oo ka Mootii Waan Maraa qachaa Daawitii Xiyoon keessaa akka fidanuuf, jaarsolee Israa'elii, sooressitoota gosa Israa'elii maraa fi qondaaltota fira Israa'elii Yersaalemitti gara ifii waansise.

² Namooti Israa'elii marti, yennaa jilti gose'ee jilifantu, ji'a torbeesso'oo, ka «Etaaniim» jedhamutti, mooticha Solomoon duratti wolitti qabamane.

³ Yennaa jaarsoleen Israa'elii duudiin wolitti qabamane, hayyooti Saanduqa Gondooro'oo san ba'atane,

⁴ Galma Mootii Waan Maraatitti galchite; akkasuma Lewwootii fi hayyooti Dunkaanii Woldeenna'aatii fi meya dunkaanii keessa jiru mara fidanee, Galma Waaqaa keessa galchane.

⁵ Mootichi Solomoonii fi kolbaan Israa'elii duudiin, Saanduqa Gondooro'oo duratti wolitti qabamane, hoole'ee fi loon bacaa barreeffamiisa yookiin laakkowamiisa hin dandeenne, ciincaa dhikeessane.

⁶ Achiin duuba hayyooti Saanduqa Gondooro'oo san Galma Waaqaa keessa galchitee, addee isi'iif qophoottetti, Addee Irra Caalaa Woyyittii ta gara keessaa, koola dada ol-gubba'aa ta koola qaddu jala keyane.

⁷ Dadi ol-gubba'aa sun addee Saanduqa Gondooro'oo san gubba'atti koola ifii badhifatane, Saanduqa Gondooro'ootii fi danqaraa Saanduqa Gondooro'oo san ittiin ba'atanu gollaneeran.

⁸ Danqaraan sun dhedheeraa waan te'eef, qacceen isaa nama Galma Mootii Waan Maraa keessa addee woyyittii jiru maratti hin mudhata; nama addee woyyitti'in ala jirutti ammoo hin mudhatu; danqaraan sun haga adhaa achuma jira.

⁹ Kolbaan Israa'elii biyya Gibxi'ii keessaa baateen duuba, yennaa Mootiin Waan Maraa isaan woliin gondooroo gondoore, dhakaa baxxicha lama ka ajaji kudhan irratti barreeffame, ka Muuseen gaara Siina'aa gubba'atti saanduqa keessa keye malee, wonni dhibiin saanduqa san keessa hin jirtu.

¹⁰ Yennaa hayyooti addee woyyittii san keessaa gad baate, duumensi Galma Mootii Waan Maraa keessa guute.

¹¹ Ulfinni Mootii Waan Maraa Galma Mootii Waan Maraa keessa waan guuteef, hayyooti sababa duumensaatiif tajaajiliisa hin dandeenne.

¹² Achiin duuba Solomoon,

«Ee, Mootii Waan Maraa,

ati, «Duumensa ciggaa dukkanowaa keessa le'a» jetteerta.

¹³ Amma ani Galma guddaa miidhagaa ka ati haga bara baraa keessa leetu, si'iif ijaareera» jedhe.

Dubbii Solomoon Kolba'atti Dubbate

¹⁴ Wolde'i kolbaa Israa'elii marti adoo achi dhaabbattee jirtuu, mootichi Solomoon gara isaanii garagalee isaan eebbise.

¹⁵ Inni, «Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, ka abbaa kiyya Daawitiif, waan afaan ifitiin waadaa gale harka ifitiin muummesse, leellifamuu ti!

¹⁶ Waaqi, «Kolbaa tiyya Israa'el biyya Gibxi'ii keessaa haga baaseen jalqabee, maqaan kiyya akka achitti waamamu Galmi akka itti ijaaramuuf,

qachoota gosa Israa'elii keessaa tokkolle hin filanne; Daawiti ammoo kolbaa tiyya Israa'el akka bulchuuf filadheera» jedheeraayyu» jedhe.

¹⁷ Solomoon itti dabalee, «Abbaan kiyya Daawiti maqaa Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'eliitiif Galma ijaariisaaf, gadhaa ifii keessatti yaadateeraayyu.

¹⁸ Mootiin Waan Maraa ammoo abbaa kiyya Daawitiin, «Ati maqaa kiyyaaf Galma ijaariisaaf, gadhaa keeti keessatti yaadatiis keeti dansa'a;

¹⁹ te'uu malee, ilma ati uumattutti maqaa kiyyaaf Galma naaf ijaara malee, ati naaf hin ijaartu» jedhe.

²⁰ «Kunoo Mootiin Waan Maraa waadaa ifii muummesseera; akkuma Mootiin Waan Maraa waadaa galetti, ani addee abbaa kiyya Daawitii mootii te'ee, barcumaa mootummaa Israa'elii irra te'eera; maqaa Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'eliitiifille, Galma ijaareera.

²¹ Saanduqa Gondooro'oo ta ajaji kudhan keessa jiru, ta Mootiin Waan Maraa yennaa abbootii teenna biyya Gibxi'ii keessaa baase isaan woliin gondoore saniif, Galma Waaqaa keessatti ani addee qopheesseera» jedhe.

²² Achiin duuba Solomoon wolde'a kolbaa Israa'elii duudii duratti, addee ciinca'aa dura dhaabbatee, harka ifii gara ol-gubba'aa diriirsee,

²³ «Ee, Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii! Ol-gubba'atti yookiin lafa irratti Waaqi akka keetii hin jiru; ati tajaajiltoota teeti worra gadhaa tokkochaan fuula keeti dura deddeebi'anuuf gondooro teeti hin eedda; jaalala keeti ka bara baraa isaaniif hin mudhitta.

²⁴ Ati tajaajilaa keeti abbaa kiyya Daawitiif waadaa galte eeddeerta; waan dur afaan keetiin waadaa galte san, adha kunoo harka keetiin muummessi-teerta.

²⁵ Ammalle ee Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii! Tajaajilaa keeti abbaa kiyya Daawitiif, «Akkuma ati fuula kiyya duratti deddeebite, ilmaan teetille waan gootu maraan fuula kiyya dura yoo deddeebite, sanyii teeti keessaa nami barcumaa mootummaa Israa'elii irra tee'u fuula kiyya duraa hin dhabamu» jettee waadaa galte san muummessiif.

²⁶ Ammalle ee Waaqa Israa'elii, tajaajilaa keeti abbaa kiyya Daawitiif waadaa galte san muummessi.

²⁷ «Ee Waaqa, ati dhugumaan lafa irra leetaa ree? Ol-gubbaan, ol-gubbaan ol-gubbootaalle si ba'atuu hin dandeettu. Galmi ani ijaare kun fa'a, dhugumaan si ba'atuu hin dande'u.

²⁸ Te'uu malee, Ee Mootii Waan Maraa Waaqa kiyya, daadimataa fi gaaffii ana tajaajilaa keetii dhage'i; iyyaa fi daadimata ani tajaajilaan keeti, adha si duratti daadimadhu naaf caqasi.

²⁹ Daadimata ani tajaajilaan keeti addee tanatti si daadimadhu akka dhageettu, ilti teeti halkanii fi guyyaa gara Galma ati, «Maqaan kiyya keessatti hin waamama» jettee ilaaltuu ti.

³⁰ Daadimata anii fi kolbaan teeti Israa'el, gara addee tanaa garagallee daadimannu nuu dhage'i; ol-gubbaa irraa nuu dhage'iitii, nuu araarami.

³¹ «Nami tokko nama irratti yakkaa hujee, akka yakkaamessa hin te'in gara addee ciinca'aa ta Galma kana keessaa dhufee, yoo kakate,

³² ati ol-gubbaa irraa dhage'iitii tajaajiltoota teetiif muraa kenni. Yakkaamessa akka yakkaa isaatitti adabi; ka yakkaa hin qanne bilisa baasi.

³³ «Kolbaan teeti Israa'el waan cubbuu hujjeef, diinaan yennaa injifatante, gara keeti deebitee, maqaa keeti yoo waammatte, Galma Waaqaa kana keessatti fuula keeti duratti yoo si daadimatte,

³⁴ ol-gubbaa irraa isaaniif dhage'i; cubbuu kolbaa teeti Israa'elii araarami-itii, gara lafa abbootii isaanii ta duriitiif kennitetti, isaan deebisi.

³⁵ «Kolbaan teeti waan si yakkiteef, yennaa ol-gubbaan cufantee, bokkeenni roobiisa dhabu, ati waan isaan rakkitteef yakkaa ifii irraa yoo deebi'ane, gara Galma kanaa garagalanee maqaa keeti yoo waammatane,

³⁶ ol-gubbaa irraa isaaniif dhage'i; cubbuu tajaajiltoota teeti kolbaa Israa'elii araarami. Karaa qajeelaa irra akka deemanu isaan barsiisi; lafa kolbaa teetiif kennite irratti bokkeya roobisiisi.

³⁷ «Yennaa beelti yookiin balaan lafa irratti dhufu, yennaa gugguufaan yookiin shantoon, awwaannisii fi korophiis midhaan balleessu yookiin yennaa diinni qachoota isaanii mara keessatti isaan marsu, yennaa balaan yookiin dhibeen isaan irra dhaqqaddu,

³⁸ kolbaa teeti Israa'el keessaa eennulle rakkinna gadhaa ifii beekkee, harka ifii gara Galma kanaa diriirsee yoo daadimatee gaafate,

³⁹ ol-gubbaa addee leetoo teetii irraa isaaf dhage'iitii araarami; qarqaarille'e. Waan gadhaa namaa keessa jiru, ka beeku si qofa waan teeteef, nama tokko tokkoofuu akka hujii isaatitti gatii isaaf kenni.

⁴⁰ Achiin duuba kolbaan teeti lafa ati abbootii teenna ta duriitiif kennite keessa, bara leetu mara si hin sodaatti.

⁴¹ «Nami ormi, ka kolbaa teeti Israa'el hin te'in, marroo gurra keetii dhage'ee lafa fagoo irraa hin dhufa;

⁴² inni marroo maqaa keeti gudda'aa, irree teeti jaddu'uulle dhage'ee dhufee, gara Galma kanaa garagalee yennaa daadimatu,

⁴³ ol-gubbaa addee leetoo teetii rraa isaaf dhage'i. Kolbaan lafa irraa marti, akkuma kolbaa teeti Israa'elii, maqaa keeti beettee, akka si sodaattu, Galmi ani ijaare kunille, maqaa keetiin akka waamamu akka beettu, waan nami ormi sun si gaafatu mara isaaf godhi.

⁴⁴ «Kolbaan teeti diinota ifii loliisaaf, gara ati isaan ergitu mara yennaa dhaxxu, gara qachaa ati filatteetii fi Galma ani maqaa keetiif ijaare kanatti garagaltee yennaa daadimattu,

⁴⁵ ati ol-gubbaa irraa daadimataa fi gaaffii isaanii dhage'iitii, haajaa isaanii isaaniif muummessi.

⁴⁶ «Nami yakkaa hin hunye tokkolle waan hin jirreef, kolbaan teeti yennaa si yakkite, ati isaanitti mufattee, diinota isaan booji'ee lafa fagoo yookiin dhikoo isaan geessutti, dabarsitee yennaa kennitu,

⁴⁷ isaan lafa diinota isaanii ta itti booji'amane san keessatti, yaada gadhaa ifii jijjiirane, cubbuu ifii irraa deebi'ane, «Nuuti cubbuu hunyeerra; dokonkorreerra; waan hantuulle hunyeerra» jedhane yoo si gaafatane,

⁴⁸ lafa diinota isaan booji'ee san keessa adoo jiranuu, gadhaa ifii tokkochaan, lubbuu ifii takkatti'in gara keeti deebi'ane, gara lafa ati abbootii isaanii ta duriitiif kennitetti, gara qachaa ati filatteetii fi gara Galma ani maqaa keetiif ijaare kanatti, garagalanee yoo si daadimatane,

⁴⁹ ol-gubbaa addee leetoo teetii irraa, daadimataa fi gaaffii isaanii dhage'iitii, haajaa isaanii isaaniif muummessi.

⁵⁰ Cubbuu isaaniitii fi yakkaa isaan si irratti hujane isaaniif araarami; diinoti isaaniille akka isaaniif mararanu godhi.

⁵¹ Isaan kolbaa teeti ta ati biyya Gibxi'ii ta akka addee ibiddaa ta sibiila itti baqsiisanuu san keessaa baatte.

⁵² «Yennaa ani tajaajilaan keetii fi kolbaan teeti Israa'el, si gaafannu gara keenna ilaali; yennaa kolbaan teeti gara keeti iyyitu isaaniif dhage'i.

⁵³ Ee Goottaa Mootii Waan Maraa, ati abbootii teenna ta durii biyya Gibxi'ii keessaa yennaa baatte, karaa tajaajilaa keeti Muuse'eetiin akkuma

dubbate, gosa biyya adda addaa mara keessaa, kolbaa teeti akka te'anuuf isaan fooyatteerta» jedhe.

Solomoon Wolde'a Eebbise

⁵⁴ Solomoon addee ciinca'aa duratti jilbiiffatee, harka ifii diriirsee gara Mootii Waan Maraa daadimataa fi gaaffii ifii fixateen duuba ol ka'ee,

⁵⁵ qoonqoo ifii ol qabatee, wolde'a Israa'elii mara eebbisee,

⁵⁶ «Akkuma waadaa galetti, Mootiin Waan Maraa kolbaa ifii Israa'eliif lafa kenne leellifamuu ti. Waadaa dansaa inni karaa tajaajilaa ifii Muuse'eetiin gale mara keessaa tokkolle adoo hin muummowin hin hanne.

⁵⁷ Mootiin Waan Maraa Waaqi keenna abbootii teenna ta durii woliin akkuma jiraate, nu wolille'een jiraatuu ti; inni nu hin lakkisin; nu hin gatinille'e.

⁵⁸ Ajaja, seerataa fi seera inni abbootii teenna ta duriitiif kenne mara akka eegannuu fi karaa isaa mara irra akka deddeebinuuf, qalbii teenna gara ifii deebisuu ti.

⁵⁹ Ana tajaajilaa isaatii fi kolbaa isaa Israa'eliif, guyyaa guyya'aan wonni barbaachittu marti akka nuu teetuuf, gaaffiin tiyya ta ani halkanii fi guyyaa Mootii Waan Maraa duratti gaafadhu, Mootii Waan Maraa Waaqa keenna dura dhikaattuu ti.

⁶⁰ Achiin duuba kolbaan lafa irraa marti Mootiin Waan Maraa Waaqa akka te'e, isa malee Waaqi dhibiin akka hin jirre hin beetti.

⁶¹ Isin kolbaan isaa akkuma adha godhiisatti jirtanu, seerata isaatiin deddeebi'aa, ajajoota isaa eegataa, Mootii Waan Maraa Waaqa keennaaf, ka addatantane te'a'a» jedhe.

Eebba Galma Waaqaa

⁶² Achiin duuba mootichi Solomoonii fi Israa'elooti isa woliin jiranu marti, Mootii Waan Maraa duratti ciincaa dhikeessane.

⁶³ Solomoon korommii kuma diddamii lama, hoolee kuma dhibba tokkoo fi kuma diddama, kennansa tokkumma'aa Mootii Waan Maraatiif dhikeesse; akka kanaan mootichi Solomoonii fi kolbaan Israa'elii marti Galma Waaqaa eebbisane.

⁶⁴ Addeen ciinca'aa ta sageettuu irraa hujante, ta Mootii Waan Maraa duraa, ciincaa, kennansa midhaaniitii fi cooma kennansa tokkumma'aa, qabatiisaaf akka malee diqqoo waan teeteef, guyyuma san mootichi Solomoon kolloo wodhakka'aa, ta badhinna dalleya keessaa ta Galma Mootii Waan Maraatiin dura jirtu, addaa baasee achitti ciincaa, kennansa midhaaniitii fi cooma kennansa tokkumma'aa dhikeesse.

⁶⁵ Maarre mootichi Solomoonii fi Israa'elooti, wolde'i guddaan kolbaa seensuma Haamaatii irraa haga laga Gibxi'iititti wolitti qabante mara woliin, Galma Waaqaa keessatti guyyaa torba torba, itti dabalane guyyaa torba, wolumatti guyyaa kudha afur, fuula Mootii Waan Maraa Waaqa keennaa duratti, jila gose'ee jilifatane.

⁶⁶ Guyyaa itti aanu Solomoon kolbaa ifi irraa geegesse; isaanille isa eebbisane, waan dansaa Mootiin Waan Maraa tajaajilaa ifii Daawitii fi kolbaa ifii Israa'eliifille godhe maraaf, gammadaa ilillisaa gara mana ifii galane.

9

Mootiin Waan Maraa Ammalle Solomoonitti Mudhate

¹ Mootichi Solomoon Galma Mootii Waan Maraatiif fi mana mootumma'aa ijaaree, waan hujuu barbaade mara yennaa fixe,

² Mootiin Waan Maraa akkuma dur Giibe'onitti isatti mudhate, ammalle itti mudhate.

³ Inni isaan, «Ani daadimataa fi gaaffii ati na gaafatte dhage'eera; Galma haga bara baraa maqaan kiyya akka itti waamamuuf, ati ijaarte kana woyyoonseera; ani yennaa mara gara isaa hin ilaala; waan isaalle hin yaada.

⁴ Akkuma abbaa keeti Daawitii, atille qajeelumma'aa fi addata-mumma'aan, fuula kiyya dura yoo deddeebite, waan ani si ajaje mara yoo goote, seerataa fi seera kiyya yoo eegatte,

⁵ akkuma ani dur, «Sanyii teeti keessaa, nami barcumaa mootummaa Israa'elii irraa tee'u hin dhabamu» jedhee, abbaa keeti Daawitiif waadaa gale, barcumaa mootummaa teetii, Israa'el irratti haga bara baraa hin jabeessa.

⁶ «Ammoo ati yookiin sanyiin teeti na hordofiisa irraa deebitanee, ajajootaa fi seerataa ani isinii kenne eegatuu diddanee, dhaxxanee waaqota dhibii tajaajiltanee yoo waaqonfattane,

⁷ ani Israa'eloota lafa isaaniif kenne keessaa hin ari'a; Galma maqaan kiyya akka itti waamamuuf woyyoonse kanalle hin lakkisa; Israa'el kolbaa mara oddu'utti waan mammaassaatii fi waan kollaa hin teeti.

⁸ Galmi amma guddoo maadeffamu kun diigamee tuulaa bututaa hin te'a; worri karaa san dabaru marti maadeffataa, «Mootiin Waan Maraa maaf waan akkasii lafa tanaa fi Galma kana irratti fide?» jedhaa itti hin murgan.

⁹ Isaan ifumaafuu deebisane, «Isaan Mootii Waan Maraa Waaqa ifii, ka abbootii isaanii biyya Gibxi'ii keessaa baase san lakkisane, waaqota dhibii, waaqonfatane waan tajaajilaneef, Mootiin Waan Maraa badii tana itti fide» hin jedhan» jedhe.

¹⁰ Solomoon Galma Mootii Waan Maraatii fi mana mootummaa ifii woggaa diddamatti ijaaree fixe.

¹¹ Mootiin Xiirrosii Hiiraam muka hindheensaa, muka birbirsaatii fi worqii, haga Solomoon barbaade mara waan isaa kenneeruuf, mootichi Solomoon qachoota diddama Galiilaa keessa jiranu, Hiiraamiif kenne.

¹² Te'uu malee mootichi Hiiraam, qachoota Solomoon isaaf kenne ilaali-isaaf yennaa dhage, qachoota sanitti hin gammanne.

¹³ Tanaaf inni Solomooniin, «Obboleessa kiyya! Ati qachoota attamii naaf kennite?» jedhee gaafate; qachoota sanille «Lafa Kabulii» jedhee moggaase; qachooti sun haga adhaalle maqaa kanaan waamaman.

¹⁴ Mootiin Xiirrosii Hiiraam, worqii kiiloogiraama kuma afur caaltu, Solomooniif ergeeraayyu.

Hujii Solomoon Huje Ta Dhibii

¹⁵ Mootichi Solomoon Galma Mootii Waan Maraatii fi mana mootummaa ifii akka ijaaranuuf kaabii, «Miiloo» jedhantu akka guutanuuf, dalleya Yerusaalemii, dalleya qachaa Hazoorii, Megidootii fi Gezerii ijaarsisiisaaf, namoota hunnaan hujii hunnaa hujanu itti bobbaase.

¹⁶ Mootichi biyya Gibxi'ii Fara'oon qachaa Gezerii lolee qabate; inni qachaa san gubee, Kana'aanota achi keessa le'anu fixee, qachaa san intala ifii ta mootichi Solomoon fuudheef gicaa kenne.

¹⁷ Solomoon qachaa Gezerii deebisee ijaare; inni ammalle qachaa Bet-Horoonii gara jalaa,

¹⁸ qachaa goomolee Yihuda'aa keessaa Ba'aalaatii fi Taamaarii,

¹⁹ akkasuma qachoota midhaan isaa itti kuusanu, qachoota garreettoti isaa ka fardaan harkifamanuu fi fardoona isaa itti galanu, waan ijaariisaaf barbaade mara Yerusaalem keessatti, Libaanonii fi lafa ifii bulchuu mara keessatti ijaarsise.

²⁰ Worra Israa'eloota hin te'in Amoorota, Heetota, Pheriizota, Hiiwotaa fi Yibusoota achitti hafane mara,

²¹ worra Israa'elooti sanyii isaanii balleessuu dadhabanee, lafa san keessatti hafane mara, haga adhaa Solomoon garboolee hujii hunnaa isaaf hujanu godhate.

²² Namoota Israa'elii ammoo loltoota, qondaaltota mootumma'aa, qondaaltota ifii, ajajjoota shantamaa, ajajjoota loltoota garreettaa fardaan hark-ifamuutii fi ajajjoota abbootii fardaa godhate malee, Israa'eloota keessaa eennulle garba hin godhane.

²³ Solomoon itti gaafatantoota hojjattootaa, namoota dhibba shanii fi shantama qabaayyu.

²⁴ Solomoon haadha manaa ifii intala mooticha Gibxi'ii, qachaa Daawitii keessaa baasee, mana mootummaa ifii ka isi'iif ijaarsisetti galcheen duuba kaabii, «Miiloo» jedhantu guuchisiise.

²⁵ Solomoon wogga'atti yennaa sad kennansa gubamuu fi kennansa tokkumma'aa hixaana woliin, fuula Mootii Waan Maraa duratti, addee ciinca'aa ta Mootii Waan Maraatiif ijaare irratti dhikeesse; akka kanaan Galma Mootii Waan Maraa ijaaree fixe.

²⁶ Mootichi Solomoon ammalle biyya Edoomii keessatti, qachaa Eziyon-Geberii ka qarqara abbaayaa diintu'uu, ka qachaa Elootii bira jirutti hoboloota gugurdoo hujisiise.

²⁷ Mootiin Xiirsoosii Hiiraam tajaajiltoota ifii, ta hoboloo guddittii oofanu, worra haala abbaaya'aa beekanu, tajaajiltoota Solomoonii woliin hoboloo keessa akka tajaajilanu erge.

²⁸ Isaanille hoboloo gudditti'in biyya Ofirii dhaqanee, worqii kiiloogi-raama kuma afur caaltu fidanee, mooticha Solomooniif kennane.

10

Mootittiin Biyya Sheeba'aa Solomoon Ilaaliisaaf dhutte

¹ Mootittiin biyya Sheeba'aa gurra Solomooniitii fi maqaa Mootii Waan Maraa woliin tokkummaa inni qabu dhageetee, gaaffii jajjaddu'uun haga isa ilaaliisaaf, gara Yersaaleemii dhutte.

² Isiin bookarsitoota hedduu woliin uddowaa, worqi'ii fi dhakaa gatii guddoo'oo bacaa gaalotatti feetee, Yersaaleem yennaa geette, gara mooticha Solomoonii dhaxxee, waan qalbii ifii keessaa qaddu mara isa gaafatte.

³ Mootichi Solomoonille gaaffii isiin gaafatte mara deebise; wonni inni isi'iif deebisiisa dadhabe takkaalle hin jirtu.

⁴ Mootittiin biyya Sheeba'aa, qarummaa Solomoonii mara, mana mootumma'aa ka inni ijaarelle yennaa dhaggite,

⁵ sagalee qorii isaa, akka qondaaltoti isaa itti teettu, akka itti tajaajiltooti isaa woyaa uffattu, worra waan unanu isaaf dhikeessuu fi ciinca inni Galma Mootii Waan Maraa keessatti dhikeesse yennaa dhaggite, guddoo maadeffatte.

⁶ Isiin mooticha Solomooniin, «Oduun marroo hujii teetiitii fi qarummaa teetii, ta ani biyya tiyyatti dhage'e dhuga'a!

⁷ Ammoo haga as dhufee ila tiyyaan dhaggutti, waan natti himane mara hin dhugeeffanneeyyu; dhugumaan gamisa isi'iituu natti hin hinne; ati ta ani dhage'e caalaa, qarumma'aa fi durummaa guddoo qadda.

⁸ Namooti keeti attam attam hiree dansaa qaban! Qondaaltoti teeti ta yennaa mara si dura dhaabbattee, qarummaa teeti dhageettu attam attam hiree dansaa qaban!

⁹ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti, ka sitti gammadee, barcumaa mootummaa Israa'elii irra si teessise leellifamuu ti; Mootiin Waan Maraa kolbaa

Israa'eliitiif jaalala bara baraa waan qabuuf, haqaa fi balchummaa akka hujjuuf, mootii si godheera» jette.

¹⁰ Achiin duuba isiin kennansa fidde mara, worqii kiiloogiraama kuma afur caaltu, uddowa'aa fi dhakaa gatii guddo'oo bacaa, mooticha Solomooniif kennite; eega san mootichi Solomoon uddowaa bacaa, ka haga mootittiin biyya Sheeba'aa isaaf kennitee, dhaggatee hin beeku.

¹¹ Hobolooti gugurdoon Hiiraamii, ta biyya Ofiriitii worqii fidde, muka sandali'ii heddu'uu fi dhakaa gatii guddo'oo isaaf fiddeertiyyu.

¹² Solomoon muka sandali'ii kana irraa, waan Galma Mootii Waan Maraatiif fi waan mana mootumma'aa, faarfattootaafille kiraaraa guddichaa fi maseengoo hujisiise; eega bara sanii muki sandali'ii, ka hagana bacatu biyya Israa'eliititti ijjumaa ergamee yookiin dhaggamee hin beeku.

¹³ Mootichi Solomoon mootittii biyya Sheeba'aatiif kennansa isi'iif kenne irratti dabalee, waan isiin halchitee isa gaafatte mara isi'iif kenne; achiin duuba isiin bookarsitoota ifii woliin gara biyya ifii deebite.

Durummaa Solomoonii

¹⁴ Mootichi Solomoon woggaa wogga'atti, worqii gara kiiloogiraama kuma diddamii sad dhaggataayyu.

¹⁵ Tana maleelle qaraxa daldaltootaatii fi daldala irraa, mootota biyya Arabaa mara irraa dhaggamuu fi gibira bulchitooti kutaa biyya Israa'elii isaaf kennanu dhaggataayyu.

¹⁶ Mootichi Solomoon wontee gugurdoo dhibba lama worqii irraa tumsiise; tokko tokkoon isi'iituu worqii gara kiiloogiraama torbaatiin itti gonfanteerti.

¹⁷ Akkasuma wontee didiqqoo dhibba sad worqii irraa tumsiise; tokko tokkoon isi'iituu worqii gara kiiloogiraama lamaatiin itti gonfanteerti; mootichi wontee tana mara mana mootumma'aa, ka «Gongomaa Libaanonii» jedhamu keessa keye.

¹⁸ Inni ammalle barcumaa mootumma'aa guddaa tokko, ilka arbaa irraa hujisiisee, worqii qulluu itti gonfe.

¹⁹ Barcumaan mootumma'aa, yaabbannoo jaa qabaayyu; mataan irkoo barcumaa mootumma'aa sun gara duubaa korbateera; middaa fi bita'aan waan harka irra keyatanu qaba; cinaa waan harka irra keyatanu san lamaaniituu fakkii neenqaa lamatti dhaabbateera.

²⁰ Qaccee yaabbannoo tokko tokkootuu san irra, gara lamaaniinuu fakkiin neenqotaa tokko tokko, wolumatti fakkiin neenqotaa kudhanii lama dhaabbatteerti; barcumaan mootumma'aa ka akkasii mootummaa biyya tamii keessalle'etti hujamee hin beeku.

²¹ Bara mooticha Solomoonii meetiin gatii guddoo waan hin qanneef, mey inni itti unuu fi mey mana mootumma'aa ka «Gongomaa Libaanonii» jedhamu keessa jiru marti, worqii qulluu irraa hujame malee, mey meetii irraa hujame tokkolle hin jiru.

²² Mootichi Solomoon hoboloota gugurdoo daldalaa ta biyya Tarshiishii, ta hoboloota Hiiraamii woliin daldalaaf abbaayaa irra deddeebitu qabaayyu; hobolooti sun woggaa sad keessatti yennaa tokko worqii, meetii, ilka arbaa, qalame'ee fi jaldeessa isaaf fidan.

²³ Mootichi Solomoon durumma'aa fi qarumma'aan mootota biyya lafaa mara caalaayyu.

²⁴ Namooti biyya lafaa duudiin, qarummaa Waaqi Solomooniif kenne dhage'iisaaf, gara isaa dhufiisa barbaadaniyyu.

²⁵ Worri gara isaa dhufu marti, wogguma wogga'aan kennansa meya meeti'itii fi worqi'ii, woyaa, meya woraanaa, uddowaa, fardo'oo fi gaangee fidaniyyu.

²⁶ Solomoon garreettaa fardaan harkifamuu fi fardoo wolitti qabate; inni garreettaa fardaan harkifamu kuma tokkoo fi dhibba afur, abbootii fardo'oo kuma kudha lama qabaayyu; isaan keessaa garii qachoota garreettoti fardaan harkifamanu le'anu keessa, garii addee ifii le'u Yerusaalem keessa keye.

²⁷ Bara mootummaa ifii meetii akkuma dhakaa addee maratti dhaggamuu, muka hindheensaalle akkuma muki harru'uu lafa kooba jalaa keessatti bacatuu godhe.

²⁸ Mootichi Solomoon fardoo ifii biyya Gibxi'itii fi biyya Qiliiqiya'aa keessaa fichisiise; daldaltooti isaa biyya Qiliiqiya'aa keessaa fardoo bitanee fiddaniyyu.

²⁹ Isaan garreettaa fardaan harkifamu tokko tokko meetii dhibba jaan, farda tokko tokko meetii dhibba tokkoo fi shantamaan biyya Gibxi'ii keessaa bitanee fidanee, mootota Heetotaatii fi Sooriya'aatitti dabarsanee gurguraniyyu.

11

Mootichi Solomoon Waaqa Irraa Fagaataa Deeme

¹ Mootichi Solomoon dubartoota biyya ormaa hedduu jaalate; inni intala mooticha Gibxi'ii maleelle, durra worra Mo'aabii, durra worra Amoonii, durra worra Edoonii, durra worra Sidooniitii fi Heetii fuudhe.

² Mootiin Waan Maraa kolbaa Israa'eliitiin, «Durra gosa biyya adda addaa yoo fuutane, isaan dhugumaan gadhaa keessan gara waaqota ifii waan deebisanuuf, durra teessan ilmaan isaanii hin heerumsiisina'a; ilmaan teessanille durra isaanii hin fuusisina'a» jedhee itti seereeraayyu; Solomoon ammoo, guddoo isaan jaalate.

³ Solomoon durra maatii moototaa keessaa niitota dhibba torbaa fi gursameeyyii dhibba sad qabaayyu; isaan akka inni Waaqa irraa fagaatu godhane.

⁴ Yennaa inni dulloome, niitoti isaa akka inni waaqota dhibii waaqonfatu godhane; Solomoon akka abbaa ifii Daawitii, Mootii Waan Maraa Waaqa ifii gadhaa tokkochaan hin waaqonfanne.

⁵ Inni waaqa dharaa diqachiisaa worra Sidoonii ta, «Ashitaaroti» jedhantuu fi waaqa dharaa ka worra Amoonotaa ka, «Moleek» jedhamu waaqonfate.

⁶ Solomoon fuula Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu huje malee, akka abbaa ifii Daawitii, addatamumma'aan Mootii Waan Maraa hin hor-donne.

⁷ Inni waaqa dharaa jibbisiisaa worra Mo'aabii ka, «Kemoshi» jedhamuu fi waaqa dharaa jibbisiisaa worra Amoonotaa ka, «Moleek» jedhamuuf, addee waaqonfanna'aa gaara qachaa Yerusaalemii irraa, gara aduun baatu jiru irratti ijaarsise.

⁸ Inni niitota ifii ta waaqota ifitiif hixaana aarsituu fi ciincaa dhikeessitu, ta biyya ormaatii fuudhe maraafille akkasuma huje.

⁹ Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii, ka yennaa lama isatti mudhate irraa waan fagaateef, Mootiin Waan Maraa Solomoonitti aare.

¹⁰ Solomoon waaqota dhibii akka hin waaqonfanne, Mootiin Waan Maraa isa ajajeeraayyu; inni ammoo waan Mootiin Waan Maraa isa ajaje hin eeganne.

¹¹ Tanaaf Mootiin Waan Maraa Solomooniin, «Eega tana gootee, gondoorroo na woliin gondoorattee fi seerata kiyya ka ani si ajaje eegatuu eega dhadde, mootummaa teeti si irraa fuudhee, tajaajiltoota teeti keessaa nama tokkoof hin kenna.

¹² Te'uu malee, ani bara ilma keetii keessa mootummaa teeti isa irraa fuudha malee, abbaa keeti Daawitiif jedhee, bara jiruu teetii keessa tana hin godhu.

¹³ Tajaajilaa kiyya Daawitii fi qachaa Yerusaalemii ka filadheef jedhee, gosa tokko ilma keetiif hin kenna malee, mootummaa san guutumatti ilma keeti irraa hin fudhadhu» jedhe.

Diinota Solomoonii

¹⁴ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa maatii mootota Edoomii keessaa diina, «Hadaad» jedhamu tokko, Solomoon irratti kaase.

¹⁵ Daawiti worra Edoomii lolee biyya isaanii yennaa qabate, ajajaan loltoota isaa Yo'aab, Israa'eloota du'ane awwaaliisaaf ol bayee, dhiira Edoom keessa jirtu mara ijjeese.

¹⁶ Yo'aabii fi Israa'elooti marti, dhiira Edoom keessa jirtu mara ijjeesane haga fixanutti ji'a jaa achi turane.

¹⁷ Bara san Hadaad ilma diqqa'a; inni tajaajiltoota abbaa ifii gamisa woliin, gara biyya Gibxi'ii baqate.

¹⁸ Isaan biyya Miidiyaanii irraa ka'anee, biyya gara biyya Phaara'aa dhagane; achiin duuba biyya Phaara'aa keessaa namoota fudhatanee, gara Fara'oonii mooticha Gibxi'ii dhagane; mootichille mana, sagale'ee fi lafa Hadaadiif kenne.

¹⁹ Hadaad fuula mootichaa duratti fudhatama waan dhaggateef, mootichi obboleettii niitii ifii, «Taahafenes» ta jedhantu isa heerumsiise.

²⁰ Isiin Hadaadiif ilma, «Genubaat» jedhamu deette; Taahafenes mana mooticha Gibxi'iititti isa gudditte; innille ijoollee mootichaa woliin le'e.

²¹ Hadaad adoo biyya Gibxi'ii jiruu, mootichi Daawiti akka du'e, ajajaan loltoota isaa Yo'aabille akka du'e yennaa dhage'e, mooticha Gibxi'iitiin, «Gara biyya tiyyaa akka deebi'u, naaf eeyyam» jedhee gaafate.

²² Mootichi Gibxi'ii ammoo, «Na biraa maan dhaddee, gara biyya teetii deebi'uu barbaadda?» jedhee isa gaafate?

Hadaad deebisee mootichaan, «Womaa hin dhanne; ammoo deemuu barbaada, gara biyya tiyyaa akka deemu naaf eeyyam» jedhe.

²³ Ammalle Mootiin Waan Maraa diina dhibii ilma Eliyaada'aa Rezon, ka goottaa ifii Hadaad-Ezer mooticha Zoba'aa jalaa baqate, Solomoon irratti kaase.

²⁴ Yennaa Daawiti loltoota Zoba'aa fixe, Rezon namoota wolitti qabatee, soressaa finqiltootaa te'e; inni namoota ifii woliin Damaasqoo dhagee qubate; isaanille achitti mootii isa godhatane.

²⁵ Rezon rakkoo Hadaad Israa'el irratti fide irratti dabalee, bara Solomoonii mara diina Israa'elii te'e; maarre Rezon Sooriyaa irratti mootii te'ee, Israa'el jibbe.

Yerobi'aam Solomoon Irratti Finqila Kaase

²⁶ Ilmi Nebaatii Yerobi'aamille, Solomoon irratti finqila kaase; inni tajaajiltoota Solomoonii keessaa tokko ka te'e, sanyii Efreem keessaa, nama qachaa Zeredaarii ti; maqaan haadha isaa Zeruwa'a. Isiin haadha hiyyeessaa ti.

²⁷ Solomoon kaabii, «Miiloo*» jedhantu guutee, dalleya qachaa abbaa ifii Daawitii ka caccabe, deebisee waan ijaarsiseef, Yerobi'aam mooticha Solomoon irratti, finqila kaase.

²⁸ Yerobi'aam nama dandeettii guddoo qabu; dargaggeessi kun hujii akka dansaa akka huju, Solomoon yennaa dhagge, gosa Yoseefii keessaa worra hunnaan hujii hunnaa hujanu irratti itti gaafatamaa godhe.

²⁹ Gaafa tokko Yerobi'aam, qachaa Yersaaleemii keessaa bayee adoo deemuu, nami qachaa Shiilo'oo raagichi Ahiiyaan, ka woyaa haareya uffateeru, karaa irratti isa dhagge; isaan lamaanuu qacha'an ala qofi adoo jiranuu,

³⁰ Ahiiyaan woyaa haareya uffateeru san ifi irraa fuudhee, addee kudhanii lamatti gargar cicciree,

³¹ Yerobi'aamiin, «Ati citaa kudhan ifiif fudhadhu; sababille Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, «Ani mootummaa Solomoon irraa fuudhee, cicciree gosa kudhan si'iif hin kenna;

³² tajaajilaa kiyya Daawitii fi qachaa Yersaaleemii, ka ani qachootaa gosa Israa'elii mara keessaa filadheef jedhee, gosa tokko Solomooniif hin hambura.

³³ Inni na lakkisee, waaqa dharaa ta worra Sidoonii Ashitaaroti, waaqa dharaa ka worra Mo'aabii Kemoshii fi waaqa dharaa ka worra Amoonotaa Moleek waan waaqonfateef, ani tana hin godha; inni akka Daawitii abbaa ifii karaa kiyya irra hin ideenne; fuula kiyya duratti waan sirrii te'e hin hunye; seerataa fi ajaja kiyya hin eeganne.

³⁴ Te'uu malee tajaajilaa kiyya ka ani filadhe, ka ajajaa fi seerata kiyya eegate Daawitiif jedhee, guutumatti Solomoon irraa mootummaa hin fuudhu; bara jiruu ifii mara akka inni bulchu hin godha.

³⁵ Ammoo ilma Solomoonii irraa mootummaa fuudhee, gosa kudhan si'iif hin kenna.

³⁶ Te'uu malee, maqaan kiyya akka ittiin waamamuuf qachaa filadhe Yersaaleem keessatti, sanyii tajaajilaa kiyya Daawitii keessaa, nami tokko yennaa mara barcumaa mootummaa isaa irraa, fuula kiyya duraa akka hin dhabanneef, ani ilma isaatiif gosa tokko hin kenna.

³⁷ Ani fuudhee, mootii Israa'elii si hin godha; kutaa biyya jaalattee mara hin bulchita.

³⁸ Akkuma tajaajilaan kiyya Daawiti godhe, atille waan ani si ajaje mara yoo goote, karaa kiyya irra yoo ideente, seerataa fi ajaja kiyya eegattee, waan sirrii te'e fuula kiyya duratti yoo goote, ani si waliin hin jiraadha; akkuma mootummaa Daawitii jabeesse, mootummaa sanyii teetille hin jabeessa; Israa'elille si'iif hin kenna.

³⁹ Sababa cubbuu Solomooniitiif sanyii Daawitii hin adaba; ammoo haga bara baraatii moti jedha» jedhe.

⁴⁰ Tanaaf Solomoon Yerobi'aam ijjeesiisaaf wodhaane; Yerobi'aam ammoo gara mooticha biyya Gibxi'ii Shiishaaqii baqatee, haga Solomoon du'utti achi ture.

Du'a Solomoonii

⁴¹ Wonni dhibiin ta Solomoon bara mootummaa ifii huje, qarummaan isaa martinuu, kitaabaa dabarsii Solomoonii keessatti barreeffanteerti.

⁴² Solomoon Yersaaleem keessa tee'ee woggaa afurtama, kolbaa Israa'elii mara irratti mootii te'e.

* **11:27 Miiloo:** Lafa boollittii qachaa Yersaaleemii irraa karaa aduun baatu jirtu.

⁴³ Achiin duuba Solomoon du'ee, qachaa Daawitii abbaa ifii keessatti awwaalame; ilmi isaa Rehobiyaam addee abbaa ifii Solomooniititti mootii te'e.

12

Israa'elooti Gara Kaabaa Rehobiyaam Irratti Kaate

¹ Israa'elooti marti mootii isa godhatiisaaf Sheekem waan dhaxxeef, Rehobiyaamille achi dhage.

² Ilmi Nebaatii Yerobi'aam, ka Solomoon duraa gara biyya Gibxi'ii baqa-teeru, oduu tana yennaa dhage'e, deebi'ee dhufe*.

³ Maarre kolbaan Israa'elii ta gara kaabaa, isa waansitte; innii fi wolde'i Israa'elii marti, gara Rehobiyaamii dhaqanee,

⁴ «Abbaan keeti Solomoon waanjoo ulfaattuu nutti fe'eera. Ati ammoo amma hujii ulfaattu'uu fi waanjoo ulfaattuu abbaan keeti nutti fe'e, yoo nuu sallitte, nuutille si'iif hin ajajanna» jedhane.

⁵ Rehobiyaam deebisee, «Amma deema'aatii, guyyaa sadiin duuba deebi'a'aa kowa'a» jedhe. Maarre kolbaan deente.

⁶ Achiin duuba mootichi Rehobiyaam, jaarsolee abbaan isaa Solomoon yennaa jiru, Solomooniif gorsa kennitu wolitti qabee, «Kolbaa tanaaf deebii attamii akka kennu natti gorsitan?» jedhee gaafate.

⁷ Isaan deebisane, «Ati adha kolbaa tanaaf tajaajilaa teetee, yoo isaaniif tajaajilte, gaaffii isaaniitiif deebii dansaa yoo kennite, isaan yennaa mara tajaajiltoota teeti hin te'an» jedhane.

⁸ Rehobiyaam ammoo gorsa jaarsole'ee tuffatee, dargaggoota isa woliin guddatte, ta isa gorsitu woliin mari'ate.

⁹ Inni, «Kolbaa, «Waanjoo abbaan keeti nutti fe'e, nutti sallisi!» jettu tanaaf deebii attamii kennina? Gorsa attamii naa kennitan?» jedhee isaan gaafate.

¹⁰ Isaan deebisane, «Kolbaa «Abbaan keeti waanjoo ulfaattuu nutti fe'eera; ati ammoo nutti sallisi!» jettu tanaan, «Qubi maandhich kiyya, hidha abbaa kiyyaa caala furdada.

¹¹ Abbaan kiyya waanjoo ulfaattuu isinitti fe'eera; ani ammoo ta san caaltu isinitti hin fe'a; abbaan kiyya liche'een isin dhaane; ani ammoo lichee qaccee irraa akka makkaa qara qadduun isin hin dhaana» jedhi» jedhane.

¹² Akkuma mootichi, «Guyyaa sadiin duuba deebi'aatii, kowa'a» jedhe, Yerobi'aamii fi kolbaan martinuu deebi'ane, gara Rehobiyaamii dhufane.

¹³ Mootichi Rehobiyaam gorsa jaarsoleen isaaf kennite tuffatee, xixxa'aan deebii isaaniif kenne.

¹⁴ Inni gorsa dargaggootaa fudhatee, «Abbaan kiyya waanjoo ulfaattuu isinitti fe'e; ani ammoo ta san caaltu isinitti hin fe'a; abbaan kiyya liche'een isin dhaane; ani ammoo lichee qaccee irraa akka qaajjibbu'uu qara qadduun isin hin dhaana» jedhe.

¹⁵ Wonni Mootiin Waan Maraa karaa nama qachaa Shiilo'oo raagicha Ahiyaatiin, ilma Nebaatii Yerobi'aamitti dur dubbate, muummowuu waan qadduuf, mootichi waan kolbaan jette hin dhageenne.

¹⁶ Mootichi isaaniif dhage'uu akka dide, Israa'elooti marti yennaa hubatane, mootichaan, «Nuuti Daawiti woliin qooda maan qanna? Ilma Iseyii Daawiti woliin dhaala maan qanna? Ee kolbaa Israa'elii, gara mana keessanii deebi'a'a! Ee sanyii Daawitii, ati kolbaa teeti bulfadhu!» jedhane.

Maarre Israa'elooti gara mana ifii deebi'ane.

* **12:2** Deebi'ee dhufe: Barreeffam Woyyichi Ibrootaa ka durii gariin achumatti hafejedha.

¹⁷ Rehobiyaam ammoo Israa'eloota qachoota Yihuda'aa keessa le'anuu bulche.

¹⁸ Achiin duuba mootichi Rehobiyaam, Adoniiraamii itti gaafatamaa namoota hunnaan hujii hunnaa hujanuu gara Israa'eloota erge; isaan ammoo dhaka'aan tumanee isa ijjeesane. Mootichi Rehobiyaam ammoo ariiti'iin garreettaa ifii ka fardaan harkifamu irra tee'ee, gara Yersaaleemii baqate.

¹⁹ Maarre kolbaan Israa'elii ta gara kaabaa, haga adhaa mana mootummaa Daawitii irratti, akkuma fiqila kaasanetti hafane.

²⁰ Israa'elooti marti Yerobi'aam akka deebi'e yennaa dhage'ane, gara wolde'a ifii waansisanee, Israa'eloota mara irratti mootii isa godhane. Sanyii Daawitiitiif addatamaa te'ee worri hafe gosa Yihuda'aa qofa.

Raaga Shemaa'iyaa Raage

²¹ Ilmi Solomoonii Rehobiyaam gara Yersaaleemii yennaa deebi'e, Israa'eloota gara kaabaa jiranu lolanee, gara mootummaa isaa akka isaaf deebisanu, fira Yihuda'aatii fi Beniyaaminii mara keessaa, loltoota beekkamane kuma dhibba tokkoo fi kuma saddeettama wolitti qabate.

²² Ammoo jechi Waaqaa gara Shemaa'iyaa nama Waaqaa[†] dhufee,

²³ «Mootii Yihuda'aa Rehobiyaamii ilma Solomooniitiin, fira Yihuda'aatii fi Beniyaamiitiin, worra hafe maralle'een,

²⁴ Mootiin Waan Maraa, «Wonni te'e kun fedha kiyyaan waan teeteef, Israa'eloota obboleeyyan teessan loliisaaf ol hin bayina'a. Isin martinuu gara mana keessanii deebia'a'a» jedhi» jedheen. Maarre isaan martinuu jecha Mootii Waan Maraatiif ajajamanee, akkuma Mootiin Waan Maraa isaan ajaje gara mana ifii deebi'ane.

Yerobi'aam Fakkii Jabbi'ii Worqii Irraa Huje

²⁵ Achiin duuba mootichi Yerobi'aam biyya koobittii Efreemii keessatti qachaa Sheekemiittitti dalleya dhaka'aa ijaaree yennaa diqqoo achi ture; achille'ee ka'ee qachaa Pheeni'eliille'etti dalleya dhaka'aa ijaare.

²⁶ Inni gadhaa ifii keessatti, «Amma mootummaan sanyii Daawitiitiif waan deebitu fakkaatti;

²⁷ kolbaan tun Galma Mootii Waan Maraa keessatti ciincaa dhikeessiisaaf, gara Yersaaleemii yoo ol baate, gadhaan isaanii gara gootaa isaanii mootii Yihuda'aa Rehobiyaamii hin deebi'a; isaan na ijjeesane, gara mootii Yihuda'aa gara Rehobiyaamii hin deebi'an» jedhee yaade.

²⁸ Mootichi waan kana irratti mari'ateen duuba, fakkii jabbi'ii lama worqii irraa hujisiisee kolba'aan, «Ee Israa'el, waaqonfatiisaaf gara Yersaaleemii ol bayiisi akka malee ulfaatti; waaqoti keessan ka biyya Gibxi'ii keessaa isin baasane isaan kana» jedhe.

²⁹ Fakkii jabbi'ii ta worqii irraa hujisiise san, takkattii Bet'el keessatti, taan Daan keessatti dhaabe.

³⁰ Kolbaan fakkii jabbi'ii san waaqonfatiisaaf Bet'el, haga Daaniille waan dhaxxeef, tun cubbuu itti teete.

³¹ Akkasuma Yerobi'aam addee waaqonfanna'aa irratti galma ijaaree, gosa Lewwi'ii te'uu dhabanulle kolbaa mara keessaa, hayyoota worra Lewwoota hin te'in file.

³² Yerobi'aam akkuma jila biyya Yihuda'aatitti jilifatanuu, ji'a saddeetesso'oo guyyaa kudhanii shaneesso'ootitti, jila akka jilifatanu murteessee, addee ciinca'aa irratti ciincaa dhikeesse; inni fakkii jabbi'ii ta worqii irraa hujisiise ta Bet'el keessa dhaabe saniif, ciincaa dhikeesse. Inni addee

[†] 12:22 Nama Waaqaa: Raagicha jechu'u.

waaqonfanna'aa ta Bet'el keessatti ijaare san keessalle hayyoota tajaajiltu keye.

³³ Inni ji'a saddeetesso'oo guyyaa kudhanii shaneesso'oo, addee ciinca'aa ta Bet'el keessatti ijaarsise irratti, ciincaa dhikeessiisaaf dhage; achitti guyyaa ifii filate sanitti Israa'elooti jila akka jilifatanu murteessee, hixaana aarsiisaaf gara addee ciinca'aa san ol baye.

13

Nama Waaqaa Ka Yihuda'aa Dhufe

¹ Yerobi'aam hixaana aarsiisaaf addee ciinca'aa bira adoo dhaabbateeruu, nami Waaqaa tokko, ajaja Mootii Waan Maraatiin, biyya Yihuda'aa irraa gara Bet'elii dhufe.

² Inni ajaja Mootii Waan Maraatiin addee ciinca'aa mormee, qoonqoo guddoon, «Addee ciinca'aa! Addee ciinca'aa! Mootiin Waan Maraa si'iin, «Kunoo, sanyii Daawitii keessaa ilmi maqaan isaa: Yosiyaas jedhamu hin dhalata; inni hayyoota addee waaqonfanna'aa irratti ciincaa dhikeessanu, si irratti hin ciinnessa; lafeen namootaa si irratti hin gubanti» jedha» jedhe.

³ Guyyuma san nami Waaqaa sun, beessisa kennee, «Addeen ciinca'aa tun gargar hin dhooti; daadhaan irra jirulle hin jiga. Kun beessisa Mootiin Waan Maraa kenne» jedhe.

⁴ Mootichi Yerobi'aam waan nami Waaqaa sun, addee ciinca'aa ta Bet'el keessaa mormee, qoonqoo guddoon dubbate yennaa dhage'e, addee ciinca'aa san irraa, harka ifii nama Waaqaa sanitti diriirsee, «Namicha kana qaba'a!» jedhe. Harki mootichaa ka inni itti diriirse sun ammoo, sooree waan gogeef, duubatti deebifatu hin dandeenne.

⁵ Akkuma nami Waaqaa sun, jecha Mootii Waan Maraatiin beessisa kenne, addeen ciinca'aa sun gargar dhootee, daadhaan irra jirulle jige.

⁶ Mootichi Yerobi'aam nama Waaqaa saniin, «Maganne'e, harki kiyya fayyee, addee duriititti akka naa deebi'u, Mootii Waan Maraa Waaqa keeti naaf daadimadhu!» jedhee kadhate.

Maarre nami Waaqaa sun Mootii Waan Maraa daadimate; harki mootichaalle fayyee, akka dur jirutti deebi'e.

⁷ Achiin duuba mootichi nama Waaqaatiin, «Na woliin gara manaa koyiitii areerradhu; kennansalle si'iif hin kenna» jedhe.

⁸ Nami Waaqaa ammoo deebisee mootichaan, «Gamisa qabeenna keetii yoo naaf kennitelle, ani si woliin hin deemu; addee tanatti sagalee hin nyaadhu; bisaanille hin unu.

⁹ Sagalee akka hin nyaanne, bisaan akka hin unne, karaa dhufe sanille deebi'ee akka hin galle, Mootiin Waan Maraa na ajajeera» jedhe.

¹⁰ Tanaaf inni karaa dhibi'iin deebi'ee deeme malee, karaa gara Bet'elii dhufe san hin deebine.

¹¹ Yennaa san jaarsi raagichi Bet'el keessa le'u tokko jiraayyu; ilmaan isaa dhuttee, waan nami Waaqaa guyyaa san Bet'el keessatti godhee fi waan inni mooticha Yerobi'aamitti dubbate mara isatti hinte.

¹² Abbaan isaanii, «Namichi sun karaa kam deeme?» jedhee gaafate; ilmaan isaalle, karaa nami Waaqaa ka Yihudaa irraa dhufe sun deeme, isatti mudhitte.

¹³ Achiin duuba inni ilmaan ifitiin, «Harree tiyyatti koora naa fe'a'a*!» jedhe; isaan harree sanitti koora isaaf fe'ane; innille irra tee'ee,

* **13:13** Koora naa fe'a'a: Reroo naa rera'a worri jedhulle jira.

¹⁴ nama Waaqaa san hordofee, qilxaa jala tee'eeruun dhaggee, «Nami Waaqaa ka biyya Yihuda'aatii dhufe si'ii?» jedhee isa gaafate.

Inni deebisee, «Eeti'i, ana» jedhe.

¹⁵ Jaarsi raagichi sun nama Waaqaa saniin, «Ana woliin gara manaa koyiitii, areerradhu» jedhe.

¹⁶ Nami Waaqaa sun ammoo, «Ani si woliin gara mana keetii deebi'ee deemuu, addee tanatti sagalee si woliin nyaatuu, bisaanille unuu hin dande'u.

¹⁷ Achitti sagalee akka hin nyaanne, bisaan akka hin unne, karaa dhufe sanille deebi'ee akka hin galle, Mootiin Waan Maraa na ajajeera» jedhe.

¹⁸ Achiin duuba jaarsi raagichi sun sobee, nama Waaqaatiin, «Anille akkuma keeti raagicha; ergamaan tokko ajaja Mootii Waan Maraatiin, «Nami Waaqaa kun sagalee akka nyaatuu fi bisaan akka unu, deebisii gara mana keetii fudhadhuu gali» naan jedheera» jedhe.

¹⁹ Maarre nami Waaqaa sun isa woliin deebi'ee, mana isaatitti sagalee nyaatee, bisaan une.

²⁰ Adoo isaan nyaatiisatti jiranuu, jechi Mootii Waan Maraa gara jaarsa raagichaa isa deebisee fide sanii dhufe.

²¹ Jaarsi raagichi sun, nama Waaqaa ka biyya Yihudaa irraa dhufe saniin, «Mootiin Waan Maraa, «Sababa ati jecha Mootii Waan Maraatiif ajajamuu diddee, ajaja ani Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti si ajaje eegatuu diddee,

²² addee dhaxxee sagalee akka hin nyaanne, bisaanille akka hin unne dhooggantetti, sagalee nyaatee, bisaanille waan unteef, reeffi keeti addee awwaalaa ta abbootiin teeti ta durii itti awwaalantetti hin awwaalamu!» jedha» jedhee qoonqoo guddo'oon dubbate.

²³ Nami Waaqaa sun sagalee nyaatee, bisaan uneen duuba, jaarsi raagichi deebisee isa fide sun harre'etti kooraa isaaf fe'e.

²⁴ Nami Waaqaa sun adoo deemiisatti jiruu, neenqi karaa irratti dhaggee isa ijeese; reeffi isaalle karaa irratti albifamee, harree sanii fi neenqille achi dhaabbateeraayyu.

²⁵ Namooti karaa san dabaranu tokko, reeffa karaa irratti albifameeruu fi neenqa isa bira dhaabbateeru san dhagganee, dhaqanee namoota qachaa jaarsi raagichi keessa le'utti odeessane.

²⁶ Raagichi karaa irraa waamee isa deebise fide sun, waan kana yennaa dhage'e, «Inni nama Waaqaa ka jecha Mootii Waan Maraatiif ajajamuu dide waan te'eef, Mootiin Waan Maraa akkuma isa ifi eeggachiise, neenqa caccassee isa ijeesutti, dabarsee isa kenne» jedhe.

²⁷ Achiin duuba raagichi ilmaan ifitiin, «Harre'etti kooraa naa fe'a'a» jedhe; isaanille kooraa san isaaf fe'ane.

²⁸ Raagichi ka'ee yennaa dhage, reeffi nama Waaqaa sun karaa irratti albifamee, harre'ee fi neenqi reeffa san bira dhaabbataneeranuun dhagge. Neenqi sun reeffa san hin nyaanne; harree sanille hin caccassine.

²⁹ Maarre jaarsi raagichi sun, reeffa fuudhee harre'etti fe'ee, bowanee akka isa awwaalanu, gara qachaa Bet'elii fide.

³⁰ Achiin duuba reeffa nama du'ee san, addee awwaalaa ta ifii qopheeffate keessa keyee, «Anne'e, obboleessa kiyya!» jedhaa bowaneef.

³¹ Isa awwaalanee duuba jaarsi raagichi ilmaan ifitiin, «Gaafa ani du'u, addee awwaalaa ta nami Waaqaa keessatti awwaalame tana keessatti na awwaala'a; lafee tiyyalle lafee isaa bira keya'a.

³² Ergaan nami Waaqaa sun, ajaja Mootii Waan Maraatiin addee ciinca'aa ta Bet'elii irratti, addee waaqonfanna'aa ta qachaa Samaariya'aa mara keessaa irratti morme, dhugumaan hin muummotti» jedhe.

Cubbuu Yerobi'aamii Ta Balaa Fidde

³³ Eega tun teeteeyyuu, mootichi Yerobi'aam ittuma dabalee gosuma mara keessa, worra addee waaqonfanna'aatiif hayyoota te'uu barbaadu adda baasee, addee waaqonfanna'aatiif, hayyoota filate malee, hujii hantuu ifii irraa hin deebine.

³⁴ Cubbuu tanatti sanyii Yerobi'aamii gara jinnanaatii fi gara lafa irraa ijjumaa badiisaa geesse.

14*Du'a Ilma Yerobi'aamii*

¹ Bara san ilmi Yerobi'aamii Abiiyaan dhibame.

² Mootichi Yerobi'aam haadha manaa ifiitiin, «Ka'iitii, haadha manaa tiyya akka teete nami tokkole akka si hin beennetti uffadhuutii, gara addee raagichi Ahiiyaan, ka kolbaa tana irratti akka ani mootii te'u natti hime jiruu, Shiiloo dhaqi.

³ Yennaa dhaxxu daabboo xaltaa kudhan, bixee zayitii dibante diqqoo isi'iitii fi damma okkotee tokko qabadhuutii gara isaa dhaqi. Inni waan ilmi keenna te'uuf jiru si'itti hin hima» jedhe.

⁴ Maarre haati manaa Yerobi'aamiille akkuma inni jedhe gootee, gara qachaa Shiilo'oo gara mana Ahiiya'aa dhaxxe. Ahiiyaan waan dul-loomeeruuf ilti isaa dhaggiisa dadhaddeertiyyu.

⁵ Mootiin Waan Maraa ammoo, «Kunoo, haati manaa Yerobi'aamii, ilmi isi'ii waan dhibameeruuf, marroo isaa si gaafatiisaaf dhufaarti. Ati, «Akkas, akkas» jedhiitii deebii isi'iif kenni.

«Isiin nama dhibii ifi fakkeessitee, gara keeti hin dhutti» jedhee raagicha Ahiiya'atti hime.

⁶ Raagichi Ahiiyaan ammoo, ijata isi'ii balbala irratti yennaa dhage'e, «Haadha manaa Yerobi'aamii, ol seen! Ati maaf nama dhibii ifi fakkeessita? Ani oduu badduu sitti himiisaaf ergameera.

⁷ Dhaqiitii waan Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii jedhu, Yerobi'aamitti himi! Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, «Ani odduu kolba'aatii si filee, kolbaa tiyya Israa'el irratti sooreessa si godhe.

⁸ Ani mootummaa sanyii Daawitii irraa fuudhee si'iif kenne; ati ammoo akka tajaajilaa kiyya Daawitii, ka ajaja kiyya eegatee, gadhaa tokkochaan na hordofee, fuula kiyya duratti waan sirrii te'e hujee hin teene.

⁹ Ati sibiila baqsiifame irraa waaqota dhibii, waaqota dharaa hujisiittee, na aarsitee mootota si'iin duraa caalaa, waan hantuu hujee, dudda natti galte.

¹⁰ Tanaaf ani maatii Yerobi'aamii irratti badii hin fida; maatii isaa ka garba te'e yookiin ka garba hin te'in, ilmaan dhiiraa ta isaa mara Israa'el keessaa hin balleessa; akkuma nami kosii gubee balleessu, anille maatii Yerobi'aamii hin balleessa.

¹¹ Maatii isaa worra qachaa keessatti du'u mara sareen hin nyaatti; worra qacha'aan alatti du'u allaattiin hin nyaatti; ani Mootiin Waan Maraa tana dubbadheera» jedha» jedhe.

¹² Achiin duuba Ahiiyaan haadha manaa Yerobi'aamiitiin, «Ati gara mana keetii deebi'i; akkuma ati qachaa seenteen ilmi keeti hin du'a.

¹³ Israa'elooti marti isaaf bowanee, isa hin awwaalan; maatii Yerobi'aamii keessaa, nami Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii itti gammade, isa qofa waan te'eef, isa qofatti awwaala dansaa dhaggata.

¹⁴ Mootiin Waan Maraa mootii haareya Israa'el irratti mootii te'ee, adhuma maatii Yerobi'aamii ijjumaa balleessu hin mootonsa; Tun ammuma hin teeti.

¹⁵ Israa'elooti utubaa waaqa dharaa ta, «Asheeraa» jedhantuu hujanee, Mootii Waan Maraa waan aarsaneef, inni isaan adabee akka shonbooqqoo bisaan keessaa isaan hin raasa; lafa dansaa abbootii isaanii ta duriitiif kenne keessalle'ee isaan ari'ee, laga Efraaxiisiitiin gamatti isaan hin bittinneessa.

¹⁶ Yerobi'aam cubbuu hujee, kolbaan Israa'eliille cubbuu akka huju waan godheef, Mootiin Waan Maraa kolbaa Israa'elii hin lakkisa» jedhe.

¹⁷ Haati manaa Yerobi'aamii kaatee, gara qachaa Tiirza'aa deebite; akkuma isiin gulantaa balbalaa irra geetteen, ilmi isi'ii du'e.

¹⁸ Akkuma Mootiin Waan Maraa karaa tajaajilaa ifii raagicha Ahiiya'aatiin dubbate, Israa'elooti marti bowanee, isa awwaalane.

¹⁹ Wonni dhibiin ta mootichi Yerobi'aam huje, attam akka lolee fi akka bulche, kitaaba dabarsii mootota Israa'elii keessatti barreeffanteerti.

²⁰ Yerobi'aam mootii te'ee woggaa diddamii lama bulcheen duuba du'e; addee isaatitti ilmi isaa Naadaab mootii te'e.

Mootii Yihuda'aa Rehobiyaam

²¹ Ilmi Solomoonii Rehobiyaam biyya Yihuda'aatitti mootii yennaa te'e, nama woggaa afurtamii tokkoo ti; inni qachaa Yerusaalemii ka Mootiin Waan Maraa maqaan isaa akka itti waamamuuf, qachoota gosa Israa'elii mara keessaa filate keessa tee'ee, woggaa kudha torba bulche; haati Rehobiyaamii «Na'aamaa» jedhanti; isiin nama biyya Amoonii ti.

²² Kolbaan Yihuda'aa Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu hujje; isaan cubbuu hujane saniin, abbootii ifii ta durii caalaa aarii Mootii Waan Maraa ta hinaaffa'aa kakkaasane.

²³ Isaan koobota dhedheertuu mara irratti addee waaqonfanna'aa, soodduu akka woyyu'uutitti ilaalanu, utuboota waaqa dharaa ta, «Asheeraa» jedhantuu, gaaddisa muka banqaaqaa'aa mara jalalle'etti hujatane.

²⁴ Lafa san keessa galmi dhiirti keessatti wol bukkoonsituuyyuu jira. Isaan akkuma kolbaa gosa biyya adda addaa, ta Mootiin Waan Maraa Israa'eloota duraa ari'ee baasee, waan Mootii Waan Maraa diqachiisu* baca hujane.

²⁵ Rehobiyaam mootii te'ee woggaa shaneesso'ootitti, mootichi biyya Gibxi'ii Shiishaaq qachaa Yerusaalemii lole.

²⁶ Inni qabeenna Galma Mootii Waan Maraatii fi mana mootumma'aa keessa jiru mara, wontee mootichi Solomoon worqii irraa hujisiise maralle fudhate.

²⁷ Maarre mootichi Rehobiyaam, addee wontee worqi'ii san, wontee sageettu'uu hujisiisee, ajajjoota eeddota seensuma dalleya mana mootumma'aa eeganutti kenne.

²⁸ Yennaa mootichi gara Galma Waaqaa dhufu mara, eeddota wontee san fudhatanee qabatan; achiin duuba wontee san, gara kolloo eeddotaatitti deebisan.

²⁹ Wonni dhibiin ta mootichi Rehobiyaam huje marti, kitaaba dabarsii mootota Yihuda'aa keessatti barreeffanteerti.

³⁰ Rehobiyaamii fi Yerobi'aam bara ifii mara wol lolaa turane.

³¹ Rehobiyaam du'ee, qachaa Daawitii keessatti addee awwaala abbootii ifititti awwaalame; haati Rehobiyaamii «Na'aamaa» jedhanti; isiin nama biyya Amoonii ti. Ilmi isaa Abiiyaan addee isaatitti mootii te'e.

15

Mootii Yihuda'aa Abiiyaa

* **14:24** *Diqachiisu*: Akka malee jibbisiisu jechu'u.

¹ Ilmi Nebaatii Yerobi'aam Israa'el irratti mootii te'ee woggaa kudhanii saddeetesso'ootitti, Abiiyaan biyya Yihuda'aa irratti mootii te'e.

² Mootichi Abiiyaan Yerusaalem keessa tee'ee, woggaa sad bulche; maqaan haadha isaa Ma'aka'a; isiin intala Abiishaalomii ti.

³ Mootichi Abiiyaan cubbuu abbaan isaa dur huje mara huje; inni akka Daawitii abbaa abbootii isaa ta durii, Mootii Waan Maraa Waaqa ifitiif hin addatanne.

⁴ Te'uu malee, Mootiin Waan Maraa Waaqi isaa Daawitiif jedhee, qachaa Yerusaalemii jabeessee, ilma isaan duuba barcumaa mootummaa isaa irraa tee'u, Abiiya'aaf kenniisaan akka issa'aatitti addii isaaf kenne muummesse.

⁵ Daawiti cubbuu Uriiyaa Heeticha irratti huje malee, fuula Mootii Waan Maraa duratti waan sirrii te'e hujeera; bara jiruu ifi mara ajaja Mootii Waan Maraa eegateera.

⁶ Bara jiruu Abiiya'aa mara Rehobiyaamii fi Yerobi'aam wodhakkaa lolli jiraayyu.

⁷ Wonni dhibiin ta mootichi Abiiyaan huje marti, kitaaba dabarsii mootota Yihuda'aa keessatti barreeffanteerti. Abiiya'aa fi Yerobi'aam wol lolaa turane.

⁸ Abiiyaan du'ee, qachaa Daawitii keessatti, abbootii ifi ta durii biratti awwaalame; addee isaatitti ilmi isaa Aasaan mootii te'e.

Mootii Yihuda'aa Aasaa

⁹ Yerobi'aam Israa'el irratti mootii te'ee woggaa diddameesso'ootitti, Aasaan biyya Yihuda'aa irratti mootii te'e.

¹⁰ Inni Yerusaalem keessa tee'ee woggaa afurtamii tokko bulche; maqaan akkoo isaa Ma'aka'a; isiin intala Abiishaalomii ti.

¹¹ Aasaan akkuma Daawitii abbaa abbootii isaa ta durii, fuula Mootii Waan Maraa duratti waan sirrii te'e huje.

¹² Mootichi Aasaan addee dhiirti itti wol bukkoonsitu lafa san keessaa balleesse; waaqota dharaa ka abbootiin isaa hujjelle mara balleesse.

¹³ Akkoon isaa Ma'akaan, fakkii waaqa dharaa ta «Asheeraa» jedhantuu, diqachiittuu waan hujjeef, inni giittummaa irraa isii buuse; fakkii isiin hujjelle caccassee, dhooqa Qedroonii keessatti gube.

¹⁴ Aasaan addee waaqonfanna'aa mara balleessuu dhabulle, haga bara jiruu ifi mara, Mootii Waan Maraatiif addatameera.

¹⁵ Inni meya adda addaa ka abbaan isaatii fi inninuu Waaqaaf woyyoonse, meeti'ii fi worqii mara fidee, Galma Waaqaa keessa keye.

¹⁶ Mootiin Yihuda'aa Aasaanii fi mootiin Israa'elii Baa'ishaan, bara mootummaa isaanii mara wol lolaa turane.

¹⁷ Mootiin Israa'elii Baa'ishaan biyya Yihuda'aa lolee, eennulle gara biyya Yihuda'aa akka hin seenne, achi keessalle'ee akka hin baane, qachaa Raama'aatitti dalleya dhaka'aa ijaare.

¹⁸ Maarre mootichi Aasaan, meeti'ii fi worqii Galma Waaqaatii fi mana mootummaa'aa keessatti hatte mara fuudhee, qondaaltota ifititti kennee, gara mooticha Sooriya'aa Ben-Hadaadii ilma Xaabriimoonii, akaakoo Heziyoonii ka qachaa Damaasqo'oo keessa jiruu ergee,

¹⁹ «Akkuma abbaan kiyyaa fi abbaan keeti wolii galtee godhatane, anii fi atille wolii galtee godhannuu ti. Kunoo ani kennansa meeti'iitii fi worqi'ii si'iif ergeera; amma mootichi Israa'elii Baa'ishaan, akka na irraa deebi'u, wolii galtee isa waliin godhatte san diigi» jedhe.

²⁰ Mootichi Ben-Hadaad mooticha Aasaan waliin wolii galee, ajajjoota loltootaa gara qachoota Israa'elii akka duulanu godhe; isaanille Iiyon, Daan, Abeel-bet-ma'akaa, Kenerootii fi Niftaalemille mara qabatane.

²¹ Mootichi Israa'elii Baa'ishaan tana yennaa dhage'e, qachaa Raama'aatitti dalleya dhaka'aa ijaaruu lakkisee, gara qachaa Tiirza'aa deebi'e.

²² Achiin duuba mootichi Aasaan, namoota biyya Yihuda'aa maratti lassii dabarse; isaan keessaa nami tokkolle adoo hin hafin dhufanee, dhaka'aa fi muka mootichi Baa'ishaan qachaa Raama'aatitti dalleya dhaka'aa ijaarsisaa ture san fuudhanee deemane. Mootichi Aasaan dhaka'aa fi muka saniin, lafa Beniyaamin keessatti qachaa Geba'aatii fi Miispha'aatitti dalleya dhaka'aa ijaarsise.

²³ Wonni dhibiin ta mootichi Aasaan huje marti, milkayis isaatii fi qachaan inni ijaarsise, kitaaba dabarsii mootota Yihuda'aa keessatti barreeffanteerti. Inni yennaa dulloome ammoo, dhukkuba miilaatiin qabame.

²⁴ Aasaan du'ee, qachaa Daawitii keessatti awwaalame; ilmi isaa Yoshaafaax addee isaatitti mootii te'e.

Mootii Israa'elii Naadaab

²⁵ Mootichi Aasaan biyya Yihuda'aa irratti mootii te'ee, woggaa lammeesso'ootitti, ilmi Yerobi'aamii Naadaab mootii Israa'el te'ee, woggaa lama bulche.

²⁶ Inni akkuma abbaa ifii, fuula Mootii Waan Maraa duratti cubbuu hujee, kolbaan Israa'eliille cubbuu akka hujju godhe.

²⁷ Naadaabii fi Israa'elooti marti qachaa Filisxeemotaa Giibetoon marsanee adoo jiranuu, gosa Yisaakorii keessaa ilmi Ahiiya'aa Baa'ishaan, Naadaab irratti mala dhowee, isa ijjeese.

²⁸ Maarre Aasaan mootii Yihuda'aa te'ee, woggaa sadeesso'ootitti, Baa'ishaan Naadaab ijjeesee, addee isaatitti mootii Israa'elii te'e.

²⁹ Inni akkuma mootii te'een, maatii Yerobi'aamii mara ijjeesee fixe; akkuma Mootiin Waan Maraa karaa tajaajilaa ifii, raagicha Ahiiyaa nama qachaa Shiilo'ootiin dubbate, inni maatii Yerobi'aamii tokkolle adoo hin hamburin mara isaanii fixe.

³⁰ Tunille sababa Yerobi'aam cubbuu hujee, kolbaan Israa'eliille cubbuu akka hujju godhee, Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii aarseef teete.

³¹ Wonni dhibiin ta mootichi Naadaab huje marti, kitaaba dabarsii mootota Israa'elii keessatti barreeffanteerti.

³² Mootiin Yihuda'aa Aasa'aa fi mootiin Israa'elii Baa'ishaan bara mootummaa ifii mara wol lolaa turane.

Mootii Israa'elii Baa'ishaa

³³ Aasaan mootii Yihuda'aa te'ee, woggaa sadeesso'ootitti ilmi Ahiiya'aa Baa'ishaan, qachaa Tiirza'aa keessatti mootii te'ee, woggaa diddamii afur bulche.

³⁴ Baa'ishaan akkuma Yerobi'aamii, fuula Mootii Waan Maraa duratti cubbuu hujee, kolbaan Israa'eliille cubbuu akka hujju godhe.

16

¹ Jechi Mootii Waan Maraa gara Yehuu raagicha ilma Haanaanii dhufee marroo mooticha Baa'isha'aa dubbatee,

² «Ani bukuu keessaa si kaasee, sooreessa kolbaa tiyya Israa'elii si godheera; ati ammoo akka Yerobi'aamii cubbuu hujjee, kolbaan tiyyalle cubbuu hujjee, cubbuu ifitiin akka na aarsitu gooteerta.

³ Tanaaf ani akkuma maatii Yerobi'aamii ilma Nebaatii balleesse, si'ii fi maatii teeti hin balleessa.

⁴ Maatii teeti keessaa worra qachaa keessatti du'u mara, sareen hin nyaatti; worra qacha'aan alatti du'u mara, allaatiin hin nyaatti» jedhe.

⁵ Wonni dhibiin ta mootichi Baa'ishaan huje martii fi milkayiis isaa, kitaaba dabarsii mootota Israa'elii keessatti barreeffanteerti.

⁶ Mootichi Baa'ishaan du'ee, qachaa Tiirza'aa keessatti awwaalame; ilmi isaa Elaan addee isaatitti mootii te'e.

⁷ Mootichi Baa'ishaan, fuula Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu hujee, akkuma maatii Yerobi'aamii waan hantuu huje saniin Mootii Waan Maraa aarsee, maatii Yerobi'aamiille ijjeesee waan fixeef, jechi Mootii Waan Maraa karaa raagicha Yehuu ilma Haannaaniitiin isaa fi maatii isaa irratti dhufe.

Mootii Israa'elii Elaa

⁸ Aasaan mootii Yihuda'aa te'ee woggaa diddamii jayeesso'ootitti, ilmi Baa'ishaa Elaan Israa'el irratti mootii te'ee, qachaa Tiirza'aa keessa tee'ee, woggaa lama bulche.

⁹ Qondaaltota isaa keessaa tokko ka, «Ziimri» jedhamu, ajajaan gamisa garreettaa isaa ka fardaan harkifamuu, isa irratti mala dhowe. Yennaa san mootichi Elaan qachaa Tiirza'aa keessatti, mana Aarza'aa ka itti gaafatamaa mana mootumma'aa keessatti unee machoweeraayyu.

¹⁰ Aasaan mootii Yihuda'aa te'ee, woggaa diddamii torbeesso'ootitti, Ziimri mana seenee Elaa ijjeesee, addee isaatitti mootii te'e.

¹¹ Ziimri mootii te'ee, barcumaa mootumma'aa irra akkuma tee'een, maatii Baa'ishaa mara ijjeesee fixe; inni fira yookiin jaalota isaa keessaa dhiira tokkolle adoo hin hamburin fixe.

¹² Maarre Ziimri akkuma jechi Mootii Waan Maraa, karaa raagicha Yehuu-tiin marroo mooticha Baa'isha'aa dubbate, maatii Baa'ishaa mara balleesse.

¹³ Baa'ishaa fi ilmi isaa Elaan waaqota dharaa ka woy hin baane waaqon-fatiisaan cubbuu hujanee, kolbaan Israa'eliille cubbuu akka hujju godhane, Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii waan aarsaneef, tun teete.

¹⁴ Wonni dhibiin ta mootichi Elaan huje marti, kitaaba dabarsii mootota Israa'elii keessatti barreeffanteerti.

Mootii Israa'elii Ziimri

¹⁵ Aasaan mootii Yihuda'aa te'ee woggaa diddamii torbeesso'ootitti, Ziimri qachaa Tiirza'aa keessa tee'ee, guyyaa torba callaa bulche; yennaa san loltooti Israa'elii, qachaa worra Filisxeemotaa, Giibetoon marsitee achi qubatteerti.

¹⁶ Loltooti Israa'eloota ta addee quttumaa jirtu, Ziimri mala dhowee mooticha akka ijjeese yennaa dhageette, guyyuma san, addee quttumaa san keessatti ajajaa ifii Omiri Israa'el irratti mootii godhane.

¹⁷ Achiin duuba Omiri, loltoota ifii mara woliin qachaa Giibetoonii lakkisee, dhaqee qachaa Tiirza'aa marse.

¹⁸ Ziimri qachaan akka qabame yennaa dhagge, mana mootumma'aa ka dalleya dhaka'aa qabu san ol seenee, mana mootumma'aa san ifi irratti gubee, ibidda saniin du'e.

¹⁹ Inni akkuma Yerobi'aamii fuula Mootii Waan Maraa duratti cubbuu hujee, kolbaan Israa'eliille cubbuu akka hujju waan godheef tun teete.

²⁰ Wonni dhibiin ta mootichi Ziimri hujee fi finqilli inni kaase, kitaaba dabarsii mootota Israa'elii keessatti barreeffanteerti.

Mootii Israa'elii Omiri

²¹ Achiin duuba kolbaan Israa'elii addee lamatti qoodante; kolbaan gamisi ilma Giinatii Tiibnii mootii godhatiisa barbaadde; worri gamisi Omiri mootii godhatiisa barbaade.

²² Kolbaan Omiri hordotte ammoo, kolbaa ilma Giinatii Tiibnii hordotte injifatte; maarre Tiibni du'ee, Omiri mootii te'e.

²³ Aasaan mootii Yihuda'aa te'ee, woggaa soddonii tokkeesso'ootitti, Omiri mootii Israa'elii te'ee, woggaa kudhanii lama bulche; woggoota tana keessaa woggoota jaa qachaa Tiirza'aa keessa tee'ee bulche.

²⁴ Inni kooba Shamroonii meetii kuma jaan namicha, «Shemeri» jedhamu irraa bitatee, qachaa irratti ijaaree, qachaa san maqaa Shemerii ka abbaa kooba san gurgureetiin, «Samaariyaa» jedhee moggaase.

²⁵ Omiri mootota isaan qaraa mara caalaa, fuula Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu huje.

²⁶ Inni akkuma Yerobi'aamiin ilmi Nebaatii cubbuu hujee, kolbaan Israa'eliille cubbuu akka hujju godhee, waaqota dharaa ka woy hin baane waaqonfatiisaan Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii akka aarsanu godhe san mara huje.

²⁷ Wonni dhibiin ta mootichi Omiri huje marti, kitaaba dabarsii mootota Israa'elii keessatti barreeffanteerti.

²⁸ Omiri du'ee qachaa Samaariya'aatitti awwaalame; ilmi isaa Ahaab addee isaatitti mootii te'e.

Mootii Israa'elii Ahaab

²⁹ Aasaan mootii Yihuda'aa te'ee woggaa soddonii saddeetesso'ootitti, ilmi Omirii Ahaab Samaariyaa keessa tee'ee, woggaa diddamii lama Israa'el bulche.

³⁰ Ilmi Omirii Ahaab mootota isaan qaraa mara caalaa, fuula Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu huje.

³¹ Inni cubbuu mootichi ilmi Nebaatii Yerobi'aam huje akka waan kaso'ootitti ilaalee, ifille'eef cubbuma san huje; itti dabaleelle intala Etba'aalii mooticha Sidoonii Iizaabel fuudhee, waaqa dharaa Ba'aal tajaajiliisaa fi waaqonfatiisa jalqabe.

³² Inni Samaariyaa keessatti waaqa dharaa Ba'aaliif galma ijaaree, achi keessatti addee ciinca'aa huje.

³³ Inni ammalle utubaa waaqa dharaa ta, «Asheeraa» jedhantuu hujee, mootota Israa'elii ta isaan qaraa mara caalaa cubbuu hujee, Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii aarse.

³⁴ Bara Ahaabii keessa, nami qachaa Bet'elii Hii'el qachaa Yeriko'oo debisee ijaare. Akkuma Mootiin Waan Maraa karaa Iyaasuu ilma Nuniitiin dubbate, guyyaa Hii'el hundee qachaa Yeriko'oo dhaabe, ilmi angafichi isaa Abiiram du'e; guyyaa inni karra qachaa sanii baase, ilmi isaa maandhich Seguub du'e.

17

Eliyaas Oolaan Akka Dhufaaruu Hime

¹ Eliyaas ka biyya Giil'aadii keessa Tishibee keessa le'u, mooticha Ahaabiin, «Dhugaa Mootii Waan Maraa Waaqa jiraataa Israa'elii ka ani tajaajiluu, jecha kiyyaan malee, woggoota dhufanu keessa fixeensi lafa irratti hin dhaggamu yookiin bokkeenni hin roobu» jedhe.

² Achiin duuba jechi Mootii Waan Maraa gara Eliyaasii dhufee,

³ «Addee tanaa ka'ii karaa aduun baatu dhaqiitii, dhooqa Keriitii ka Yordaanos irraa karaa aduun baatu jirutti dhokadhu.

⁴ Dhooqa san keessaa bisaan hin unta; achitti sagaleelle akka sii fidu harraaqessa ajajeera» jedhe.

⁵ Maarre Eliyaas akkuma Mootiin Waan Maraa isa ajaje, gara dhooqa Keriitii ka laga Yordaanosii irraa karaa aduun baatu jiru dhaqee achi ture.

⁶ Harraaqessi daabbo'oo fi foon ganamaa fi galgala isaaf fidaayyu; inni bisaanille laga san keessaa unaayyu.

⁷ Bokkeenni lafa irraa waan dhabameef, yennaa diqqo'oon duuba lagi sun goge.

Eliyaasii Fi Haadha Hiyyeessaa Ta Qachaa Saraaphta'aa

⁸ Achiin duuba jechi Mootii Waan Maraa gara Eliyaasii dhufee,

⁹ «Ka'ii, gara qachaa Saraaphta'aa ka biyya Sidoonii keessa jiruu dhaqii achi le'i. Haati hiyyeessaa ta achi leetu takka, akka sii areertu ani ajajeera» jedhe.

¹⁰ Maarre Eliyaas gara qachaa Saraaphta'aa dhaqee, karra qacha'aa bira yennaa geye, haadha hiyyeessaa ta haasumee qocattu takka dhaggee, isii waamee, «Maganne'e bisaan unu naa fidi» jedheen.

¹¹ Isiin bisaan isaaf fidiisaaf dhaqiisatti adoo jirtuu, inni isii waamee, «Maganne'e daabboo diqqoo isi'iille naa fidi» jedhe.

¹² Isiin deebittee, «Dhugaa Mootii Waan Maraa Waaqa jiraata'aa, ani bullaa ooboo tokko ta okkotee keessa jirtuu fi zayitii ejersaa cingoo okkotee keessa jirtu malee, daabboo ijjumaa hin qabu. Ani haasumee qocadhee gara mana kiyaa deebi'ee, ifii fi mucaa kiyaaaf sagalee bilcheessiisaaf as dhufe; achiin duuba beelaan duuna» jetteen.

¹³ Eliyaas isi'iin, «Hin sodaatin; gara manaa dhaqiitii akkuma jette godhi; dursiitii bullaa diqqoo qaddu san irraa, bixee diqqoo bilcheesiitii naa fidi; achiin duuba ifii fi ilma keetiif bilcheessi.

¹⁴ Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, «Haga ani lafa irratti bokkeya roobisiisutti, bullaan okkotee keessaa, zayitiin ejersaalle okkotee keessaa hin dhumattu» jedha» jedhe.

¹⁵ Isiin dhaxxee akkuma Eliyaas jedhe goote; maarre isi'ii fi maatiin isi'ii, Eliyaasille sagalee guyyaa hedduu isaaniif geettu dhaggatane.

¹⁶ Waaqi karaa Eliyaasiitiin akkuma waadaa gale, bullaan okkotee keessaa, zayitiin ejersaalle okkotee keessaa hin dhumanne.

¹⁷ Guyyaa diqqaa'an duuba ilmi haadha hiyyeessa sun dhibame; dhibeen waan itti hammaatteef dhuma irratti du'e.

¹⁸ Isiin Eliyaasiin, «Ee nama Waaqaa ani maan si godhe? Ati cubbuu tiyya Waaqa qaabachiittee, ilma kiyaa ijjeesiisaaf as dhuttee?» jettee gaafatte.

¹⁹ Eliyaas deebisee, «Ilma keeti natti kenni» jedhee harka isi'ii irraa fuudhee, gara mana mana irratti ijaarramee geessee, taqee ifii irratti irkise.

²⁰ Achiin duuba Eliyaas qoonqoo guddoon, «Ee Mootii Waan Maraa Waaqa kiyaa, haadha hiyyeessaa ta ani bira turu tana, ilmi isi'ii akka du'u godhiisaan, waan hantuu akkasii maaf isii irratti fidde?» jedhee gara Mootii Waan Maraa iyye.

²¹ Achiin duuba inni ilma san irratti yennaa sad itti gombifamee, «Ee, Mootii Waan Maraa Waaqa kiyaa, maganne'e lubbuun mucaa kanaa akka itti deebitu godhi» jedhee gara Mootii Waan Maraa iyye.

²² Mootiin Waan Maraa iyya Eliyaasii dhage'ee, mucaalle lubbuun itti deebitee fayye.

²³ Eliyaas mana mana irratti ijaarame irraa mucaa gad buusee, «Kunoo, mucaa keeti lubbuun itti deebiteerti» jedhee haadha isaatitti isa kenne.

²⁴ Achiin duuba isiin, Eliyaasiin, «Ati nama Waaqaa akka teetee fi jechi Mootii Waan Maraa ka ati dubbatte dhugaa akka te'e beekeera» jetteen.

¹ Yennaa heddu'uun duuba, woggaa sadeesso'oo keessa, jechi Mootii Waan Maraa gara Eliyaasii dhufee, «Dhaqiitii mooticha Ahaabitti mudhadhu; anille lafa irratti bokkeya hin roobisiisa» jedhe.

² Maarre Eliyaas akkuma ajajame gara Ahaabii dhage.

Yennaa san Samaariyaa keessatti beelti hammaatteertiyyu.

³ Maarre mootichi Ahaab itti gaafatamaa mana mootummaa isaa Obaadiyaa waansise; Obaadiyaan nama guddoo Mootii Waan Maraa sodaatu.

⁴ Iizaabel yennaa raagota Mootii Waan Maraa ijjeesisaa turte, Obaadiyaan raagota dhibba tokko fuudhee, shantama shantamaan addee lamatti qoodde, goda dhaka'aa lama keessatti dhossee, sagale'ee fi bisaan isaaniif dhiheessaayyu.

⁵ Mootichi Ahaab, Obaadiya'aan, «Ka'iitii, biyya keessa gara madda bisaanii maraa fi laga maraa dhaqi; dedha fardoon, gaangotii fi horiin keenna akka hin duune marra dhagganna fa'a te'a» jedhe.

⁶ Maarre Ahaabii fi Obaadiyaan biyya keessa deemanu qoqoodamanee, Ahaab karaa tokko, Obaadiyaan karaa dhibii deemane.

⁷ Obaadiyaan adoo deemiisatti jiruu Eliyaasiin wol dhagge; inni Eliyaas akka te'e hubatee, fuula ifitiin lafatti gad gombifamee, «Ati dhugumaan, gootaa kiyya Eliyaasii?» jedhee gaafate.

⁸ Eliyaas deebise, «Eeti'i ana; dhaqiitii, «Eliyaas as jira» jedhii gootaa keetitti himi» jedhe.

⁹ Obaadiyaan deebisee Eliyaasiin, «Ani maan yakkinaan, mootichi Ahaab ana tajaajilaa keeti akka ijjeesuuf, harka isaatitti dabarsitee na kennita?

¹⁰ Dhugaa Mootii Waan Maraa Waaqa jiraataa keetii, goottaan kiyya si barbaadiisaaf, kolbaan yookiin mootummaan inni nama itti hin ergin tokkole hin jirtu; kolbaan yookiin mootummaan, «Inni as hin jiru» yennaa jettu, akka ati achi hin jirre mirkaneeffatiisaaf, isaan kakachiisaayyu.

¹¹ Amma ammoo ati akka ani gara gootaa kiyyaa dhagee, «Eliyaas as jira» jedhee itti himu barbaaddaa ree?

¹² Ani yennaa si biraa deemu, ayyaanni Mootii Waan Maraa eessa akka si geessu waan hin beenneef, ani dhagee isatti himee, inni yoo si dhagguu dhabe, na hin ijjeesa; ani tajaajilaan keeti ijoollummaa tiyyaan jalqabee Mootii Waan Maraa hin sodaadha.

¹³ Iizaabel yennaa raagota Mootii Waan Maraa ijjeesisiitte, waan ani godhe, ati goottaan kiyya hin dhageennee? Ani raagota Mootii Waan Maraa dhibba tokko, shantama shantamaan addee lamatti qoodde, goda dhaka'aa lama keessatti dhossee, sagale'ee fi bisaan isaaniif kenne.

¹⁴ Ati amma ani gara gootaa kiyyaa dhagee, «Eliyaas as jira» jedhee akka itti himu barbaaddaa ree? Yoo ani tana godhe inni na hin ijjeesa» jedhe.

¹⁵ Eliyaas deebisee, «Dhugaa Mootii Waan Maraa Waaqa jiraataa waan mara dadee, ka ani tajaajiluu, dhugumaan ani adha mooticha Ahaabitti hin mudhadha» jedhe.

¹⁶ Maarre Obaadiyaan dhagee addee Eliyaas jiru mooticha Ahaabitti hime; Ahaabille ka'ee Eliyaasiin wol dhaggiisaaf deeme.

¹⁷ Ahaab yennaa Eliyaas dhagge, «Ka Israa'el rakkisu ada si'ii?» jedhe.

¹⁸ Eliyaas deebisee, «Ajaja Mootii Waan Maraa lakkittanee, waaqota dharaa Ba'aal waaqonfatiisaan, Israa'el irratti rakkoo ka fidde si'ii fi maatii abbaa keetiiti malee, anaa moti.

¹⁹ Amma nama ergiitii kolbaa Israa'elii mara, raagota Ba'aalii dhibba afurii fi shantama, raagota waaqa dharaa ta, «Asheeraa» jedhantuu dhibba afur

worra qorii Iizaabelii keessaa nyaatanu, gaara Qarmelosii irratti wolitti naaf qabi» jedhe.

²⁰ Tanaaf Ahaab Israa'eloota maratti nama ergee, raagota san gaara Qarmelosii irratti wolitti qabe.

²¹ Eliyaas kolbaa dura dhikaatee, «Haga yoomii yaada lamaan daaxxan? Mootiin Waan Maraa Waaqa yoo te'e isa hordofa'a Yookiin Ba'aal Waaqa yoo te'e isa hordofa'a!» jedhe. Kolbaan ammoo waan tokkolle hin deebinne.

²² Achiin duuba Eliyaas kolba'aan, «Raagota Mootii Waan Maraa keessaa nami hafe na qofa; Ba'aal ammoo raagota dhibba afurii fi shantama qaba.

²³ Korommii lama nu'uuf dhikeessa'a; raagoti Ba'aalii korma tokko filatane qalanuu ti; foon isaalle kukkutanee qoraanirra naqanuu ti; ammoo ibidda itti hin gabbisin; anille korma lammeesso'oo qalee qopheessee qoraanirra naqa; ammoo ibidda itti hin gabbisu.

²⁴ Achiin duuba raagoti Ba'aalii gara waaqa ifi daadimatanuu ti; anille gara Mootii Waan Maraa kiyyaa hin daadimadha; waaqi ibiddaan deebii kennu, inni Waaqa dhuga'aa ti» jedhe.

Kolbaan marti, «Wonni ati jette dansa'a» jette.

²⁵ Achiin duuba Eliyaas raagota Ba'aaliitiin, «Isin hedduu waan teetaneef, korma tokko filadha'aatii, dursa'a qala'aa qopheessa'a; achiin duuba maqaa waaqa keessanii waammadha'a; ammoo ibidda itti hin gabbisina'a» jedhe.

²⁶ Maarre korma isaaniif kenname san qalanee qopheessanee, ganamaa haga saatii jaatitti waaqa Ba'aalii waammatane; isaan, «Ba'aal nuu dhage'i» jedhaa iyyane; adaala addee ciinca'aa ta ijaarane sanii cinaa maraa sirbane malee, deebiin hin jirtu; ka isaaniif deebii kennelle hin jiru.

²⁷ Guyyaa saatii jaatti Eliyaas, «Dhugumaan inni waaqaa motii ree! Takki yaadiisatti jira; yookiin huji'itti itti bacateera; yookiin karaa deemeera yookiin rafeera fa te'a, isa dammassiisaaf qoonqoo teessan ol qabadha'aatii iyya'a!» jedhee isaanitti murge.

²⁸ Maarre raagoti dharaa qoonqoo ifi ol qabatanee iyyanee, akkuma aadaa isaanii dhiigi isaanii haga jigutti, shallaaga'aa fi ebo'oon nafa ifi mammedeessane.

²⁹ Isaan guyyaa saatii jaan duuba, haga ciincaa galgalaatitti raaga carraaqane; ammoo deebiin hin jirtu; ka deebii isaaniif kenne, ka isaan caqaselle hin jiru.

³⁰ Achiin duuba Eliyaas kolbaa maraan, «Gara kiyya kowa'a!» jedhe; isaanille gara isaa dhufane. Innille addee Mootii Waan Maraatiif ciincaa itti dhikeessanu ta diigante deebisee ijaare.

³¹ Inni laakkossa gosa ilmaan Yaaqoobii kudhanii lamaatiin, dhakoota kudhanii lama fuudhe; Yaaqoobiin kun ka Mootiin Waan Maraa, «Maqaan keeti Israa'el te'a» jedhee moggaase.

³² Inni dhakaa kanaan maqaa Mootii Waan Maraatiin addee ciinca'aa ijaare; addee ciinca'aa sanitti marsee boolla bisaan litirii gara kudhanii afur qabattu qote.

³³ Inni addee ciinca'aa san irra qoraan naqee, foon korma qalamee san kukkutee qoraanirra naqe; achiin duuba, «Okkotee afuritti bisaan guuta'aatii, ciinca'aa fi qoraan san irratti dhangalaasa'a!» jedhe. Isaanille akkasuma godhane.

³⁴ Inni, «Lammeessoo itti dhangalaasa'a!» jedheen. Isaanille akkasuma godhane. Inni, «Sadeessoo itti dhangalaasa'a» jedhee ajaje; isaanille sadeessoo itti dhangalaasane.

³⁵ Bisaan adaala addee ciinca'aa san maratti gad yaa'ee, boolla addee ciinca'aa san guute.

³⁶ Yennaa ciincaa galgalaa, raagichi Eliyaas gara addee ciinca'aa dhikaatee, «Ee Mootii Waan Maraa, Waaqa Abrahaamii, Yisihaqiitii fi Israa'elii, ati Waaqa Israa'elii akka teete, anille tajaajilaa keeti akka te'e, waan kana mara ajaja keetiin akka godhe, adha akka beekkamu godhi.

³⁷ Kolbaan tun akka ati Mootii Waan Maraa Waaqa teete, qalbii isaanille gara ifii deebisiisatti ka jiru si akka teete akka beettu, naa dhage'i; ee, Mootii Waan Maraa deebii naa kenni» jedhe.

³⁸ Achiin duuba ibiddi Mootii Waan Maraa bu'ee, ciincaa, qoraan, dhakootaa fi biyyee san nyaatee, bisaan boolla keessaalle arraabe.

³⁹ Kolbaan marti tana yennaa dhaggite, fuulaan lafatti gad gombifantee, qoonqoo guddoon, «Mootiin Waan Maraa kun Waaqa; Mootiin Waan Maraa kun Waaqa» jette.

⁴⁰ Achiin duuba Eliyaas, «Raagota Ba'aalii qaba'a! Isaan keessaa nami tokkolle hin bayin!» jedhee isaan ajaje. Kolbaan isaan mara qadde; Eliyaasille isaan mara gara dhooqa Qiisonii geessee, achitti isaan fixe.

Barri Oola'aa Hobba'e

⁴¹ Achiin duuba Eliyaas mooticha Ahaabiin, «Gikkeessi bokkeya hama'aa waan jiruuf, ol bayiitii nyaadhu; unille'e» jedhe.

⁴² Maarre Ahaab nyaatee uniisaaf ol baye; Eliyaas ammoo gara qaccee gaara Qarmelosii ol bayee, jilba ifii lamaan wodhakka'atti gara lafaa gad jedhe.

⁴³ Inni tajaajilaa ifitiin, «Dhaqiitii gara fuullee abbaaya'aa ilaali!» jedhe.

Tajaajilaan isaalle dhaqee ilaalee, «Wonni tokkolle achi hin jiru» jedhe. Achiin duuba Eliyaas tajaajilaa ifitiin, «Yennaa torba ammalle deebi'ii dhaqi» jedheen.

⁴⁴ Tajaajilaan isaa yennaa torbeesso'ootitti, «Duumensi diqqaan harka nama hin caalle, abbaayaa irraa ol ka'uun dhagge» jedhe.

Eliyaas tajaajilaa ifitiin, «Gara Ahaabii mootichaa dhaqiitii, «Adoo bokkeenni si hin kutin, garreettaa keeti ka fardaan harkifamu irra tee'iitii gara mana keeti gad bu'i» jedhii itti himi» jedhee ajaje.

⁴⁵ Yennuma san gubbaan duumensaan gurraachotte, bubbeen bubbittee, bokkeenni hamaan bu'e. Mootichi Ahaabille garreettaa fardaan harkifamu irra tee'ee gara Yizre'elii deeme.

⁴⁶ Hunni Mootii Waan Maraa Eliyaas irratti buute; inni woyaa ifi ol caccaffatee hidhatti sikkatee, haga seensuma Yizre'elii Ahaabiin dura rukkise.

19

Eliyaas Gara Gaara Siina'aa Baqate

¹ Mootichi Ahaab waan Eliyaas godhe mara, raagota Ba'aalii maralle attam akka inni shallaaga'aan ijeese, haadha manaa ifii Iizaabelitti hime.

² Maarre Iizaabel gara Eliyaasii nama ergitee, «Akkuma ati raagota Ba'aalii ijeette, boru yennaa tanatti yoo ani si hin ijeesin, waaqoti na ijeesannu ti!» jette.

³ Eliyaas sodaatee lubbuu ifii hamburatiisaaf baqate; inni biyya Yihuda'aa keessa Bersheebaa yennaa geye, tajaajiltoota ifii achitti lakkisee,

⁴ guyyaa tokko guutuu goomolee keessa deemeen duuba, gaaddisa muka ittachaa jala tee'ee, «Ani abbootii tiyya ta durii waan hin caalleef, amma na hin geettii, Waaqa kiyya na ijeesi!» jedhee daadimate.

⁵ Achiin duuba inni muka ittachaa san jala irkatee adoo rafee jiruu, ergamaan Waaqaa tokko isa tuqee, «Ka'iitii, nyaadhu» jedhe.

⁶ Eliyaas dammaqee adaala ifii yennaa ilaale, bixee daabbo'oo ta dhakaa o'u irratti bilchaatee fi okkotee bisaanii takka mataa ifii duratti dhagge. Inni nyaatee uneen duuba deebi'ee rafe.

⁷ Ergamaan Mootii Waan Maraa ammalle deebi'ee dhufee, isa tuqee, «Karaa fagoo waan deentuuf, ka'iitii nyaadhu!» jedheen.

⁸ Maarre Eliyaas ka'ee, nyaatee une; hunna sagalee saniitiin, guyyaa afurtamaa fi halkan afurtama haga Siinaa gaara Waaqaa deeme.

⁹ Inni akkuma achi geyeen goda takka seenee bule.

Achiin duuba jechi Mootii Waan Maraa gara Eliyaasii dhufee, «Eliyaas! Maan asii hujja?» jedhee gaafate.

¹⁰ Eliyaas deebisee, «Israa'elooti gondoorroo teeti lakkisane, addee ciincaa si'iif itti dhikeessanu diigane, raagota teetille shallaaga'aan waan ijjeesaneef, ani si Mootii Waan Maraa Waaqa Waan Mara dande'uuf guddoo hinaafeera; raagota teeti keessaa nami hafe na qofa; analle ijjeesiisaaf barbaadiisatti jiran» jedhe.

¹¹ Mootiin Waan Maraa Eliyaasiin, «Ani achiin waan dabaruuf, goda keessaa bayiitii gaara gubbaa na dura dhaabbadhu!» jedhe. Achiin duuba qilleensi jabaan hunnaamessi Mootii Waan Maraa duratti gaara dhodhoosee, rassaa butuche; Mootiin Waan Maraa ammoo qilleensa san keessa hin jiruuyyu; qilleensa duuba latti tachoote; Mootiin Waan Maraa ammoo tacho'a lafaa san keessa hin jiruuyyu.

¹² Tacho'a lafaatiin duuba ibiddi dhufe; Mootiin Waan Maraa ammoo ibidda san keessa hin jiruuyyu. Ibiddaan duuba qoonqoon akka hasaassa'aa dhage'ante.

¹³ Eliyaas qoonqoo akka hasaassa'aa yennaa dhage'e, woyaa fuula ifititti hagooggatee, bayee afaan godaa dura dhaabbate. Achiin duuba qoonqoon takka, «Eliyaas! Maan asii hujja?» jetteen.

¹⁴ Eliyaas deebisee, «Israa'elooti gondoorroo teeti lakkisane, addee ciincaa si'iif itti dhikeessanu diigane, raagota teetille shallaaga'aan waan ijjeesaneef, ani si Mootii Waan Maraa Waaqa Waan Mara dande'uuf guddoo hinaafeera; raagota teeti keessaa nami hafe na qofa; analle ijjeesiisaaf barbaadiisatti jiran» jedhe.

¹⁵ Mootiin Waan Maraa Eliyaasiin, «Karuma dhutte deebi'iitii, gara goomolee Damaasqo'oo deemi; yennaa achi geette Sooriyaa irratti mootii akka te'u Hazaa'el muudi.

¹⁶ Israa'el irratti mootii akka te'u, ilma Niimshaayii Yehuu muudi. Addee teetitti raagicha akka te'u, nama biyya Abeel Mehola'aa ilma Shaafaaxii Elsa'i muudi.

¹⁷ Nama shallaagaa Hazaa'elii jalaa miliqe mara, Yehuun hin ijjeesa; nama shallaagaa Yehu'uu jalaa miliqe mara, Elsa'i hin ijjeesa.

¹⁸ Te'uu malee ani worra jilbiiffatane Ba'aaliif hin sagadin, afaan ifitille'een ka fakkii Ba'aalii hin sunqatin, namoota kuma torba Israa'elii keessatti hin hambura» jedhe.

Waammamiisa Elsa'i

¹⁹ Maarre Eliyaas achii ka'ee yennaa deemu, ilmi Shaafaaxii Elsa'i qotiyyoo ximmaadii kudhanii tokkoon qochisiisaa, ifiif ammoo ximmaadii kudhanii lammeesso'ootiin qotiisatti jiruun dhagge. Eliyaas isa bira yennaa geye, woyaa ifii darbatee Elsa'i irra buuse.

²⁰ Achiin duuba Elsa'a'i qotiyyoo lakkisee, gara Eliyaasii rukkiisee, «Abbaa kiyyaa fi haadha tiyya sunqadhee, nageya itti dhaamee deebi'ee akka si hordofu naa eeyyam» jedhe.

Eliyaas deebisee, «Tole; ani si hin dhooggu deemi» jedhe.

²¹ Maarre Elsa'a'i isa biraa deebi'ee deemee qotiyyoo lama qale; inni meya qotiyyoo'oo ka ittiin qotu san bobeessee, foon san iffeelee kolba'aaf kenne; isaanille nyaatane. Achiin duuba Elsa'a'i ka'ee, Eliyaas hordofee qarqaaraa isaa te'e.

20

Mootiin Sooriya'aa Ben-Hadaad Samaariyaa Lole

¹ Mootiin Sooriya'aa Ben-Hadaad loltoota ifii mara wolitti qabate; inni mootota soddonii lama fardoo isaaniitii fi garreettaa isaanii ka fardaan harkifamu waliin ol bayee, qachaa Samaariya'aa marsee lole.

² Inni gara qacha'aa namoota ergee, mootii Israa'elii Ahaabiin, «Mootichi Ben-Hadaad,

³ «Meetiin teetii fi worqiiin teeti, niitotii fi ijoolleen teeti shashaggooleen tiyya jedha» jedha'aatii itti hima'a» jedhe.

⁴ Mootichi Israa'elii deebisee, «Ee, gootaa kiyya mooticha! Akkuma ati jette anii fi wonni ani qabu marti teeti» jedhe.

⁵ Worri ergame sun gara Ahaabii deebi'ee dhufee, «Mootichi Ben-Hadaad, «Ani meeti'ii fi worqii teeti, niitotaa fi ijoollee teeti akka naaf kennitu sitti ergeeraayyu.

⁶ Te'uu malee boru yennaa tanatti, mana mootumma'aa keetii fi mana qondaaltota teetii keessa barbaadane, waan isaanitti tolu mara akka fidanu tajaajiltoota tiyya hin erga» jedha» jedhane itti himane.

⁷ Mootiin Israa'elii Ahaab jaarsolee lafa sanii mara waamee, «Nami kun niitotaa fi ijoollee tiyya, meeti'ii fi worqii tiyya fudhatiisaaf namoota natti erginaan anille hin didanne; inni attam akka rakkinna fidiisaaf barbaadaaru dhagga'a» jedhe.

⁸ Jaarsole'ee fi kolbaan marti deebisane, «Waan inni siin jedhu hin dhage'in yookiin isaaf hin eeyyamin» jedhaneen.

⁹ Maarre mootichi Ahaab namoota Ben-Hadaad biraa ergamanee dhufaneen, «Gootaa kiyya mootichaan, «Ani tajaajilaan keeti waan ati gara na gaafatte mara hin muummessa; gaaffii teeti ta lammeesso'oo tana ammoo hin muummessu jedheera» jedha'aatii hima'a» jedhe.

Namooti ergamanelle deebi'ane deebii Ahaab kenne Ben-Hadaaditti himane.

¹⁰ Ben-Hadadille, «Biyyeen Samaariya'aa namoota na waliin jiranu ooboo tokko tokkolle'een yoo geette, waaqoti na ijjeesanuu ti» jedhe.

¹¹ Mootichi Israa'elii Ahaabii deebisee, «Mooticha Ben-Hadaadiin, «Loltuun dhuga'aa lolee galee ifi jaja malee, adoo lola dhaqiisatti jiruu ifi hin jaju» jedha'aatii itti hima'a» jedhe.

¹² Mootichi Ben-Hadaad, mootota dhibii waliin dunkaanii keessa tee'ee uniisatti adoo jiruu, ergaa Ahaab erge dhage'e; inni namoota ifii qachaa loliisaaf akka qopheeffatanu ajaje; isaanille loliisaaf qopheeffatane.

¹³ Yennuma san raagichi tokko gara Ahaabii mooticha Israa'elii dhufee, «Mootiin Waan Maraa, «Loltoota Ben-Hadaadii bindillaa tana dhaggitaa? Kunoo, ani adha harka keetitti dabarsee isaan hin kenna; atille akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beetta» jedha» jedhe.

¹⁴ Mootichi Ahaab, «Eentu isaan injifata ree?» jedhee gaafate.

Raagichi deebisee, «Mootiin Waan Maraa, «Qondaaltoti dargaggooti ajja-jooti kutaa biyyaa isaan hin injifatan» jedha» jedheen.

Mootichi Ahaabille, «Eentu lola kana jalqaba ree?» jedhee gaafate.

Raagichi deebisee, «Sittuu jalqaba» jedheen.

¹⁵ Maarre mootichi Ahaab qondaaltota dargaggoota ajajjoota kutaa biyyaa dhibba lamaa fi soddommii lama waame; achiin duuba loltoota Israa'elii kuma torba wolitti qabe.

¹⁶ Mootichi Ben-Hadaadii fi mootota soddommii lama worra isa woliin jiru woliin dukaani ifii keessatti unanee machowanee adoo jiranuu, saatii jaatti loltooti Israa'elii lolaaf bayane.

¹⁷ Qondaaltoti dargaggooti ajajjooti kutaa biyyaa sun dursitee baate; namooti Ben-Hadaad akka dooyanuuf erge, «Loltooti Samaariya'aa bayanee dhufisatti jiran» jedhanee himane.

¹⁸ Ben-Hadaadille, «Dhufiis isaanii nageyaaf yookiin lolaaf yoo te'elle, lubbu'uun adoo jiranuu qaba'aa fida'a» jedhee ajaje.

¹⁹ Qondaaltoti dargaggooti ajajjooti kutaa biyyaa sun, loltoota Israa'elii soressanee lolaaf bayanee,

²⁰ tokko tokkoon isaaniituu diinaa isaanitti dhufe ijjeesane; worri Sooriya'aa baqate; Israa'elootille isaan ari'uu jalqabane; Ben-Hadaad ammoo farda ifii irraa tee'ee, abbootii fardo'oo gamisa woliin dheetee baye.

²¹ Mootichi Ahaab duulee fardo'oo fi garreettaa fardaan harkifamu booji'ee worra Sooriya'aa akka malee fixe.

²² Achiin duuba raagichi gara Ahaabii mooticha Israa'elii dhufee, «Mootichi Sooriya'aa furmaata dhufu deebi'ee waan si loluuf, loltoota teeti jabeef-fadhu; maan akka godhuu qaddulle beeki» jedhe.

Lola Sooriya'aa Ka Lammeesso'oo

²³ Yennuma san qondaaltoti mooticha Sooriya'aa, isatti gorsanee, «Waaqoti Israa'elii waaqota koobotaa ti; Israa'elooti tanaaf nu injifatan; lafa dirre'etti adoo isaan lollee ammoo hin injifanna.

²⁴ Amma akkana godhi: mootota tana mara baallii isaanii irraa kaasiitii, qondaaltota loltootaa addee isaaniititti muudi.

²⁵ Loltoota, fardo'oo fi garreettota fardaan harkifamanu haga tanaan qara si duraa dhumatanee bacatanu qopheessi; achiin duuba Israa'eloota dirre'etti lollee hin injifanna» jedhe. Inni isaaniin wolii galee, akkuma isaan jedhane godhe.

²⁶ Tanaaf, furmaata itti aanu Ben-hadaad loltoota ifii wolitti qabatee, Israa'eloota loliisaaf gara qachaa Afeqii dhage.

²⁷ Israa'elootille isaanitti duuliisaaf galaa fudhatanee, wolitti qabamane bayanee, fuullee isaaniititti addee qabatane; loltooti Israa'elii loltoota Sooriya'aa ta biyya keessa guutteertu biratti, akka re'ee karra didiqqoo lamaa ti.

²⁸ Raagichi tokko gara Ahaabii mooticha Israa'elii dhufee, «Mootiin Waan Maraa, «Worri Sooriya'aa: Mootiin Waan Maraa waaqa koobotaa ti malee, waaqa dhooqotaatii moti waan naan jedhaneef ani loltoota isaanii bindillaa harka keetitti dabarsee hin kenna; atille akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beetta» jedha» jedheen.

²⁹ Worri Sooriya'aatii fi Israa'elootaa fuula wolitti galanee qubatanee haga guyyaa torbaa turane; guyyaa torbeesso'oo lola jalqabane; guyyaa tokkotti Israa'elooti loltoota miilaa ta Sooriya'aa kuma dhibba tokko fixane.

³⁰ Worri hafe gara qachaa Afeqii baqate; achitti dalleenni dhaka'aa ka qacha'aa isaan irratti jigee, namoota kuma diddamii torba fixe.

Ben-Hadaad gara qacha'aa baqatee, kolloo mana tokkoo ta gara keessaa keessatti dhokate.

³¹ Qondaaltoti isaa gara isaa dhaqanee, «Moototi Israa'elii worra nama mararu akka te'ane dhageenneerra. Tanaaf woyaa gaddaa hidha keennatti, wodaroo mataa keennatti marannee, gara mootii Israa'elii dhandhuu ti; inni si hin ijjeesu fa'a ta'a» jedhane.

³² Maarre isaan woyaa gaddaa hidha ifiititti, wodaroo mataa ifiititti maratane, gara Ahaabii mooticha Israa'elii dhaqanee, «Tajaajilaan keeti Ben-hadaad, «Maganne'ee na hin ijjeesin» siin jedha» jedhane.

Mootichille deebisee, «Inni haga ammaa hin jiraa? Yoona inni obboleessa kiyya» jedhe.

³³ Qondaaltoti Ben-hadaadii, Ahaab irraa beessisa mararti'ii eegatiisatti waan jiranuuf, yennuma san, «Eeti'i; Ben-hadaad obboleessuma keeti!» jedhane.

Achiin duuba mootichi Ahaab, «Dhaqa'aatii Ben-hadaad fida'a» jedhee isaan ajaje; yennaa Ben-hadaad bayee gara mootichaa dhufe, mootichi garreetta ifii ka fardaan harkifamu irra teessise.

³⁴ Ben-hadaad, Ahaabiin, «Qachoota abbaan kiyya abbaa keeti irraa fudhate, ani si'iif hin deebisa; akkuma abbaan kiyya qachaa Samaariya'aa keessatti godhe, atille qachaa Damaasqo'oo keessatti addee dikko'oo hin qabaatta» jedhe.

Ahaab deebisee, «Yoona wol gondooree gad si hin lakkisa» jedheen; maarre inni isa waliin wol gondooree gad isa lakkise.

Raagichi Tokko Ahaabitti Yakkaa Mure

³⁵ Raagota keessaa tokko ajaja Mootii Waan Maraatiin raagicha akka ifitiin, «Na dhowi» jedhe; inni ammoo dide.

³⁶ Tanaaf raagichi sun, «Waan ati Mootii Waan Maraatiif hin ajajaminiif, akkuma na biraa deenteen neenqi si hin ijjeesa» jedheen; akkuma namichi raagicha biraa deemeen neenqi itti dhufee isa ijjeese.

³⁷ Achiin duuba raagichi gara nama dhibi'ii dhaqee, «Maganne'e, na dhowi» jedheen; nami sunille isa dhowee madeesse.

³⁸ Achiin duuba raagichi sun eennummaa ifii dhoffatiisaaf, haga ilaatitti hagooggatee, irga kara'aa dhaabbattee, mooticha Israa'elii Ahaab eege.

³⁹ Mootichi achiin dabariisatti adoo jiruu raagichi isa waamee, «Ani tajaajilaan keeti lola hamaa keessa adoo jiruu, nami tokko, nama booji'ame tokko gara kiyya fidee, «Namicha kana eegi! Yoo inni si harkaa miliqe, addee isaa ati hin ijjeefanta yookiin meetii kiiloogiraamii soddonii afur hin kaffalta» anaan jedhe.

⁴⁰ Ani tajaajilaan keeti huji'iin adoo asii fi achi fajjifameeru namichi miliqe» jedhe.

Mootichille, «Waan sitti muramu atinuu dubbatteerta; akkasuma sitti hin murama» jedheen.

⁴¹ Achiin duuba raagichi woyaa hagooggateeru ila ifii irraa ariifatee fudhate; mootichille akka inni raagota keessaa tokko te'e beeke.

⁴² Raagichi sun mootichaan, «Mootiin Waan Maraa, «Nama ani ijjeefamuu ti jedhe, waan gad lakkitteef, addee isaa ati hin ijjeefanta; addee kolbaa isaa kolbaan teeti hin ijjeefanti» jedha» jedhe.

⁴³ Mootichi Israa'elii sun aaree bilinjaayee gara mana mootummaa ifii ka qachaa Samaariya'aa keessaa dhaqe.

21

Oorruu Naabotii Ta Muka Woyni'ii

¹ Wonni kun teeteen duuba, wonni itti aanee te'e kana: Nami Naaboti jedhamu tokko jiraayyu; inni Yizre'el keessatti mana mootumma'aa ka Ahaabii biraa oorruu muka woyni'ii takka qabaayyu.

² Gaafa tokko mootichi Ahaab Naabotiin, «Oorruun teeti ta muka woyni'ii mana mootumma'aa kiyyatti waan dhikaattuuf, biqiltuu adda addaa akka itti dhaabadhu naaf kenni! Addee isi'ii buusee oorruu isii caalu sii kenna yookiin, gurguratiisa yoo barbaadde waan isiin baachu siif hin kaffala» jedhe.

³ Naaboti ammoo deebisee, «Oorruu abbootii tiyya ta durii irraa dhaale tana sii kenniisa irraa Mootiin Waan Mara na oolchuu ti» jedhe.

⁴ Nama qachaa Yizre'elii, Naaboti, «Oorruu abbootii tiyya irraa dhaale siif hin kennu» waan jedheef, Ahaab aaree bilinjaayee, gara mana ifii gale; fuula ifille gara dhaaba manaa deebifatee taqee irra irkate; sagaleelle nyaatiisa dide.

⁵ Haati manaa isaa Iizaabel gara isaa ol seentee, «Ati maaf akkas bilinjootee, sagalee nyaatiisa didde?» jettee isa gaafatte.

⁶ Ahaabille deebisee, ani, «Nama qachaa Yizre'elii Naabotiin, «Oorruu teeti ta muka woyni'ii natti gurgur, yookiin yoo barbaadde oorruu dhibii si'ii hin kenna» jedhee gaafannaan, inni ammoo, «Ani oorruu tiyya ta woyni'ii siif hin kennu» waan naan jedheef aare» jedheen.

⁷ Haati manaa isaa Iizaabel deebittee, «Ati mootii Israa'elii teetee, akkas teetaa? Ani oorruu muka woyni'ii ta Naabotii nama qachaa Yizre'elii akka ati fudhattu hin godha; ka'itii midhaan nyaadhuu gammadi!» jetteen.

⁸ Achiin duuba isiin maqaa Ahaabiitiin xalayaa barreessitee, chaappaa isaa itti dhoottee gara jaarsole'ee fi qondaaltota qachaa Naabotii keessa isa woliin le'anuu ergite.

⁹ Xalayaan isiin barreessite sun, «Laama guyyaa tokkoo lassa'a. Kolbaa wolitti qaba'aatii, odduu isaaniititti Naaboti addee ulfinnaa teessisa'a;

¹⁰ dhugaa baatota dharaa lama, «Ka Waaqaa fi mootii arrasseera» jedhanee dhugaa isa irratti bayanu isa dura dhaabbachiisa'a. Achiin duuba Naaboti qachaa keessaa baasa'aatii dhaka'aan tuma'aa ijjeesa'a» ka jedhu.

¹¹ Maarre namooti qachaa Naabotii keessaa, jaarsole'ee fi qondaaltoti achi le'anuu, akkuma Iizaabel xalayaa keessatti ajaje godhane.

¹² Isaan laama guyyaa tokkoo lassane; kolbaa wolitti qabane, odduu isaaniititti Naaboti addee ulfinnaa teessisane.

¹³ Achiin duuba dhugaa baatoti dharaa lama dhuttee isa dura teetee, «Naaboti Waaqaa fi mooticha arrasseera» jettee kolbaa duratti dhugaa isa irratti baate; maarre isaan qachaa keessaa isa baasane, dhaka'aan tumanee ijjeesane.

¹⁴ Achiin duuba isaan, «Naaboti dhaka'aan tumamee du'eera» jedhanee gara Iizaabelii ergane.

¹⁵ Iizaabel akka Naaboti dhaka'aan tumanee du'e akkuma dhageetteen, Ahaabiin, «Naaboti du'eera; amma dhaqiitii oorruu muka woyni'ii ta Naabotii nama qachaa Yizre'elii ka inni siif gurguruu dide san fudhadhu» jetteen.

¹⁶ Ahaab nami qachaa Yizre'elii Naaboti akka du'e yennaa dhage'e, yoosuma oorruu muka woyni'ii ta isaa fudhatiisaaf dhage.

¹⁷ Achiin duuba jechi Mootii Waan Maraa gara Eliyaasii Tishbeetichaa dhufee,

¹⁸ «Gara Ahaabii mooticha Samaariya'aa dhaqi; inni oorruu muka woyni'ii ta Naabotii ta fudhatiisaaf dhage san keessa jira;

¹⁹ Ahaabiin, «Mootiin Waan Maraa: Ati Naaboti ijeetteerta; karra isaalle fudhatiisaaf teetaa? Sareen dhiiga Naabotii addee arraaddetti dhiiga keetille hin arraaddi jedha» jedhiitii itti himi» jedhe.

²⁰ Ahaab Eliyaas dhaggee, «Diina kiyya, na dhaggiteerta!» jedheen.

Eliyaasille, deebisee, «Ee, si dhaggeera; Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu godhiisaaf ifi gurgurteerta;

²¹ tanaaf Mootiin Waan Maraa, «Ani badii sitti hin fida; Israa'el keessaa sanyii teeti hin balleessa; si'ii fi dhiira maatii teeti keessaa mara garbicha yookiin garbicha ka hin te'inille hin fixa.

²² Ati tutuxxee waan na aarsiteef, kolbaan Israa'eliille cubbuu akka hujju waan gooteef, ani maatii teeti akka maatii Yerobi'aamii ilma Nebaatiitii fi akka maatii Baa'ishaa ilma Ahiiyaa hin godha» siin jedha.

²³ Marroo Iizaabeliille, Mootiin Waan Maraa, «Dalleya dhaka'aa ka qachaa Yizre'elii keessatti sareen reeffa isi'ii hin nyaatti.

²⁴ Worra Ahaabii keessaa nama qachaa keessatti du'u sareen hin nyaatti; nama qacha'aan alatti du'u allaattiin hin nyaatti» jedha» jedhe.

²⁵ Akka Ahaab haadha manaa ifii Iilzaabeliin tirtiffamee, fuula Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu hujee ifi gurgure, nami akka isaa ijjumaa hin jiru.

²⁶ Akkuma worra Amoorotaa, ka Mootiin Waan Maraa Israa'eloota duraa ari'ee baasee, Ahaabille waaqota dharaa waaqonsiisaan waan battii hujee.

²⁷ Ahaab dubbii tana yennaa dhage'e, woyaa ifii tarsaasee, woyaa gaddaa uffatee laame. Inni woyaa gaddaa uffatee rafa; yennaa deemulle guddoo gaddee mataa buusee deema.

²⁸ Achiin duuba jechi Mootii Waan Maraa gara Eliyaasii Tishbeetichaa dhufee,

²⁹ «Ahaab na duratti attam akka ifi gad qabe dhaggiteertaa? Inni na duratti waan ifi gad qabeef, «Ani balaa isatti hin fida» jedhe san, bara isaa keessatti isatti hin fidu; bara ilma isaa keessatti ammoo maatii isaa irratti hin fida» jedhe.

22

Raagichi Miikiyaas Ahaab Ifi Eggachiise

(2 Dab. 18:2-27)

¹ Sooriya'aa fi Israa'el wodhakkaa woggaa sadiif lolli hin jiruuyyu;

² woggaa sadeesso'ootitti ammoo mootiin Yihuda'aa Yoshaafaax mootii Israa'elii Ahaab ilaaliisaaf dhage.

³ Mootiin Israa'elii Ahaab gondaaltota ifiitiin, «Raamoot-Giili'aad teenna adoo teeteertuu, harka mootii Sooriya'aatii deebifatiisaaf, nuuti waan tokkolle akka hin godhin hin beettanii motii?» jedhe.

⁴ Maarre Ahaab Yoshaafaaxiin, «Raamoot-Giili'aad loliisaaf na woliin hin dhaxxaa?» jedhee gaafate; Yoshaafaax deebisee, «Ani akkuma keeti; kolbaan tiyya teeti; fardoona tiyyalle teeti» jedhe.

⁵ Yoshaafaax ammalle, mootii Israa'elii Ahaabiin, «Dursiitii fedha Mootii Waan Maraa gaafadhu» jedhe.

⁶ Tanaaf Ahaab raagota gara nama dhibba afurii wolitti qabee, «Raamoot-Giili'aaditti hin duula moo hin lakkisa?» jedhee isaan gaafate.

Isaanille, «Dhaqiiitii loli; Goottaalle harka keetitti dabarsee isaan hin kenna» jedhanee deebisane.

⁷ Yoshaafaax ammoo, «Raagichi Mootii Waan Maraa ka nuuti gaafannu ka dhibiin as hin jiruu?» jedhee gaafate.

⁸ Ahaabille, «Raagichi dhibiin ka karaa isaatiin fedha Mootii Waan Maraa nuuti gaafannu, ilmi Imla'aa Miikiyaas hin jira; ammoo inni yennaa mara hantuu malee, waan dansaa ijjumaa naaf raagee waan hin beenneef, ani isa hin jibba» jedhee deebise.

Yoshaafaax deebisee, «Mooticha, ati akkas dubbatiisaaf hin malle» jedhe.

⁹ Achiin duuba Ahaab qondaaltota mana mootumma'aa keessaa tokko waamee, «Dhaqiitii, ilma Imla'aa Miikiyaas dafii fidi» jedhe ajaje.

¹⁰ Yennaa kana mootichi Israa'elii Ahaab fi mootichi Yihuda'aa Yoshaafaax woyaa mootumma'aa ifii uffatanee, seensuma karra qachaa Samaariya'a dura eeddummee keessa raagota mootota duratti raaga dubbatiisatti jirtu woliin tee'aneeraniyyu.

¹¹ Raagota san keessaa ilmi Kine'aanaa Zedeqiyaan gaafota sibiila irraa hujee Ahaabiin, «Mootiin Waan Maraa, «Gaafota kanaan haga isaan badanutti worra Sooriya'aa hin woraanta» jedha» jedhe.

¹² Raagoti martinuu akkasuma, «Mootiin Waan Maraa harka keetitti dabarsee waan isaan kennuuf, hin injifattaa, dhaqiitii, Raamoot-Giili'aad loli» jette.

¹³ Namichi Miikiyaas waamiisaaf ergamee dhage, Miikiyaasiin, «Kunoo, raagoti martinuu mootichi Ahaab akka injifatu raagiisatti jiran; atille akkuma isaanii waan dansaa raagiif» jedhe.

¹⁴ Miikiyaas ammoo, «Dhugaa Mootii Waan Maraa ka jiraataa te'ee, ani waan Mootiin Waan Maraa natti dubbate qofa isatti hima» jedheen.

¹⁵ Miikiyaas yennaa gara Ahaabii mootichaa dhufe, mootichi, «Miikiyaas! Mootichi Yoshaafaaxii fi ani Raamoot-Giili'aaditti hin duulla moo hin lakkinna?» jedhee gaafate.

Miikiyaasille, «Mootiin Waan Maraa harka keetitti dabarsee waan kennuuf, hin injifattaa, itti duuli» jedheen.

¹⁶ Ahaab ammoo, «Waan dhugaa te'e malee, waan dhibii maqaa Mootii Waan Maraatiin akka ati natti hin hinne, yennaa meeqa si kakachiisa?» jedheen.

¹⁷ Achiin duuba Miikiyaas, «Loltooti Israa'elii marti akka hoolee tissee hin qannee, kooba irratti bittinnowaneeranuun dhagge. Mootiin Waan Maraa, «Namooti kun sooreessa hin qabanu; tanaaf tokko tokkoon isaanii nageyaan gara mana ifii deebi'anuu ti» jedheera» jedhee deebise.

¹⁸ Mootichi Israa'elii Ahaab Yoshaafaaxiin, «Inni marroo tiyyaaf hantuu malee, waan dansaa ijjumaa akka raaga hin dubbanne ani sitti hin hinnee?» jedheen.

¹⁹ Miikiyaas itti dabalee, «Tanaaf waan Mootiin Waan Maraa jedhu dhage'i! Mootiin Waan Maraa barcumaa mootummaa ifii ka ol-gubba'a irra tee'ee, ergantooti isaa martinuu middaa fi bitaa isaa dhaabbataneeranuun dhagge.

²⁰ Mootiin Waan Maraa, «Ahaab gara Raamoot-Giili'aadii dhagee achitti akka ijjeefamu eentu isa dokonkorsuu dande'a?» jedhe. Ergantoota Mootii Waan Maraa keessaa tokko waan tokko, kuun waan dhibii dubbate;

²¹ dhuma irratti, ayyaanni tokko dhufee Mootii Waan Maraa dura dhaabbatee, «Ani isa hin dokonkorsa» jedhe.

²² Mootiin Waan Maraalle, «Attam gootee dokonkorsita?» jedhe gaafate. Ayyaanni sun deebisee, «Ani dhagee afaan raagota Ahaabii mara keessatti ayyaana soba dubbachiisu hin te'a» jedhe. Mootiin Waan Maraa, «Dhaqiitii dokonkorsi; si'iif hin milkootti» jedhe.

²³ Tanaaf Mootiin Waan Maraa ayyaana sobaa afaan raagota teetii keessa keyee, badiille akka sitti dhuttu murteesse» jedhee dubbii ifii buufate.

²⁴ Achiin duuba Zedeqiiyaan ilmi Kine'aanaa gara Miikiyaasii dhagee, isa kabalee, «Karaa kamiin ayyaanni Mootii Waan Maraa ana irra dabaree sitti dubbatte?» jedhee gaafate.

²⁵ Miikiyaas deebisee, «Gaafa dhokatiisaaf kolloo gara keessaa seente hin dhaggita» jedhe.

²⁶ Achiin duuba mootichi Ahaab qondaaltota ifii keessaa tokko ajajee, «Miikiyaas qabiitii gara Amoonii bulchaa qacha'aatii fi gara Yo'aasii ilma mootichaa geessi!

²⁷ Isaan isa hidhanee, haga ani nageyaan deebi'utti daabbo'oo fi bisaan malee waan tokkole akka itti hin kennine itti himi» jedhe.

²⁸ Miikiyaas deebisee, «Ati nageyaan yoo deebite Mootiin Waan Maraa karaa kiiyaan hin dubbanne jechu'u! Isin kolbaan marti dubbii tiyya tana qalbeeffadha'a!» jedhe.

Du'a Ahaabii
(2 Dab. 18:28-34)

²⁹ Maarre mootiin Israa'elii Ahaabii fi mootiin Yihuda'aa Yoshaafaax qachaa gara Raamoot-Giili'aadii dhagane.

³⁰ Mootiin Israa'elii Ahaab Yoshaafaaxiin, «Eennulle akka na hin beenneef, woyaa dhibii uffadhee duula hin dhaqa; ati ammoo woyaa teeti ta mootumma'aa uffadhu» jedheen. Tanaaf mootichi Israa'elii Ahaab eennulle akka isa hin beenneef woyaa dhibii uffatee duule.

³¹ Mootiin Sooriya'aa ammoo ajajjoota loltoota ifii ta garreettaa fardaan harkifamuu soddonii lama ajajee, «Mooticha Israa'elii malee, diqqa'aa fi guddaa tokkole hin lolina'a» jedhe.

³² Isaan mooticha Yoshaafaax yennaa dhaggane, «Dhugumaa kun mooticha Israa'elii ti» jedhanee isa loliisaaf gara itti galane. Yoshaafaax yennaa iyye ammoo,

³³ ajajjooti loltoota garreettaa fardaan harkifamuu akka inni mooticha Israa'elii hin te'in yennaa dhaggane, isa ari'iisa lakkisane.

³⁴ Isaan keessaa namichi tokko guubee ifii duuchi-balleessii darbatee, wodhakkaa uffanni sibiilaa ka mootichi Ahaab uffateeru lamaan wol qaba-teeruun isa woraane; mootichi Ahaab nama garreettaa fardaan harkifamu oofuun, «Ani waan madoweef, garreettaa fardaan harkifamu gara duuba garagalfadhuutii addee lolaa tana keessaa na fuudhii deemi!» jedhee ajaje.

³⁵ Gaafa san lolli o'ee, mootichi Ahaab gara worra Sooriya'aa fuula galee garreettaa ifii ka fardaan harkifamu keessa itti irkatee dhaabbate; dhiigi madaa isaa irraa garreettaa keessatti gad lola'ee, inni galgaluma san du'e.

³⁶ Aduun seeniisatti jirtuun, «Nami martinuu gara biyya biyya ifii, gara qachaa qachaa ifii deebi'ee deemuu ti!» ajaji jedhu quttuma loltoota Israa'elii keessatti dhage'ame.

³⁷ Maarre mootichi Ahaab du'ee, reeffa isaa gara qachaa Samaariya'aa fidanee awwaalane.

³⁸ Garreettaa isaa ka fardaan harkifamulle baleessa Samaariya'aa ka sagaagaltooti itti dhiqatutti dhiqanee, akkuma Mootiin Waan Maraa dubbate dhiiga isaa sareen arraadde.

³⁹ Wonni dhibiin ta mootichi Ahaab bara mootummaa ifii godhe, wonni inni huje marti, manni isaa ka mootumma'aa ka inni ilka arbaatiin seese ijaaree fi qachooti inni ijaare marti kitaaba dabarsii mootota Israa'elii keessatti barreeffanteerti.

⁴⁰ Maarre mootichi Ahaab du'ee, addee isaatitti ilmi isaa Ahaaziyaan mootii te'e.

Mootii Yihuda'aa Yoshaafaax

(2 Dab. 20:31–21:1)

⁴¹ Ahaab mootii Israa'elii te'ee, woggaa arfeesso'ootitti, ilmi Aasa'aa Yoshaafaax mootii Yihuda'aa te'e.

⁴² Yoshaafaax yenna mootii te'e nama woggaa soddonii shanii ti; inni Yerusaalem keessa tee'ee woggaa diddamii shan bulche. Maqaan haadha isaa Azuba'a; isiin intala Shilhii ti.

⁴³ Yoshaafaax akkuma abbaa ifii Aasa'aa huje malee, karaa isaa irraa hin gorre; te'uu malee, addeen waaqonfanna'aa waan hin diigaminiif, kolbaan addee waaqonfanna'aa sanitti ciincaa ciincessiisaa fi hixaana aarsiisa hin lakkinne.

⁴⁴ Yoshaafaax mootii Israa'elii wolille'een nageyaan le'e.

⁴⁵ Wonni dhibiin ta mootichi Yoshaafaax bara mootummaa ifii huje, milka-yiis isaa ta lolaa kitaaba dabarsii mootota Yihuda'aa keessatti barreeffanteerti.

⁴⁶ Inni kolloo galma waaqota dharaa keessaa ta dhiirti keessatti wol bukkoonsitu, ta bara bulchiinsa abbaa isaa Aasa'aatu jirtu lafa san keessaa balleesse.

⁴⁷ Bara san biyyi Edoomii mootii hin qaddu; nama mootiin Yihuda'aa addee ifii buusetti bulchaayyu.

⁴⁸ Mootichi Yoshaafaax biyya Ofiriitii worqii akka fidanuuf hoboloota gugurdoo daldalaa ta akka hoboloota Tarshiishii huje; hobolooti sun ammoo Eziyon-Geberitti waan caccabaneef dhaquu hin dandeenne.

⁴⁹ Achiin duuba mootiin Israa'elii, ilmi Ahaabii Ahaaziyaan, Yoshaafaaxiin «Namooti kiyya namoota keeti woliin hoboloo gudditti'iin deemanuu ti» jedhe; Yoshaafaax ammoo didate.

⁵⁰ Mootichi Yoshaafaax du'ee, qachaa Daawitii addee abbootiin isaa ta durii awwaalamanetti awwaalame; ilmi isaa Yohoraam addee isaatitti mootii te'e.

Mootii Israa'elii Ahaaziya

⁵¹ Mootichi Yihuda'aa Yoshaafaax mootii te'ee woggaa kudhanii torbeesso'ootitti, ilmi Ahaabii Ahaaziyaan mootii Israa'elii te'e; inni Samaariyaa keessa tee'ee woggaa lama Israa'el bulche.

⁵² Inni hujii abbaa ifitii fi haadha ifii, hujii Yerobi'aamii ilma Nebaatii ka Israa'elooti akka cubbuu hujju godheelle, gula waan deemneef, Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu huje.

⁵³ Inni akkuma abbaa ifii, waaqa dharaa Ba'aal tajaajilee waaqonfatiisaan, Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii tuttuqee aarse.

Kitaaba Moototaa Ka Lammeesso'oo Seensa

Kitaab moototaa ka lammeesso'oo addee dabarsii kitaab moototaa ka qaraa itti dhaabbachiise irraa jalqabee marroo mootummoota lama ta Israa'elootaa dubbata. Kitaab kun kutaa lamatti qoodamuu dande'a.

1. Dabarsii mootummoota lamaa ta dhaloota Kiristoosiitiin duraa, wodhakkaa jaarraa sagaleesso'ootii jalqabee, haga jinnana Samaariya'aatii fi haga dhuma mootummaa kaabaa ta dhaloota Kiristoosiitiin dura woggaa dhibba torbaa fi diddamii lama keessaa dubbata.

2. Dabarsii mootummaa Yihuda'aa ta jinnana mootummaa Israa'eliitiin jalqaddee, haga mootiin Baabilonii Nebukadnezaar dhaloota Kiristoosiitiin dura woggaa dhibba shanii fi saddeettamii jaa keessatti Yersaalem qabatee balleessee dubbata.

Kitaab kun Gadaaliyaan bulchiisa Baabilonii jalatti bulchaa biyya Yihuda'aa akka te'ee fi mootichi Yihuda'aa Yo'aakin Baabilon keessatti mana hidha'aa keessaa akka baye himiisaan buufata.

Moototi, kolbaan Israa'eliitii fi Yihuda'aa Waaqaaf addatamummaa waan dhabaneef, badiin tun biyyatti dhutte. Badiis Yersaalemiitii fi booji'amiis kolbaa hedduu Yihuda'aa jijjiirama guddaa dabarsii Israa'elootaa ti.

Kitaaba Moototaa ka lammeesso'oo keessatti raagichi beekkame ka addee Eliyaasii bu'e Elsaa'i.

Haadhoo Dubbi'ii

Mootummaa Qoqoodante *1:1–17:41*

Raagicha Elsaa'i *1:1–8:15*

Mootota Yihuda'aatii fi Israa'elii *8:16–17:4*

Jinnana Samaariya'aa *17:5–41*

Mootummaa Yihuda'aa *18:1–25:30*

Hisqiyas Irraa Jalqabee Haga Yosiyasii *18:1–21:26*

Bulchiisa Yosiyasii *22:1–23:30*

Mootota Yihuda'aa Ta Dhuma Irraa *23:31–24:20*

Jinnana Yersaalemii *25:1–30*

Raagicha Eliyaasii Fi Mooticha Ahaaziyaa

¹ Mootichi Israa'elii Ahaab du'een duuba biyyi Mo'aabii Israa'el mormitee finqilte.

² Yennaa san mootichi Israa'elii Ahaaziyaan, Samaariyaa keessatti kolloo mana mootummaa ifii ta gubba'aa irraa bu'ee miidhamee irkateeraayyu; maarre inni, «Ani dhibee tana irraa ka fayyu yoo te'e, Ba'aal Zebub waaqa qachaa Eqroonii Filisxeemotaa dhaqa'aatii naaf gaafadha'a!» jedhee namoota erge.

³ Ergamaan Waaqaa ammoo, Eliyaasii Tishbeetichaan, «Ka'iitii namoota mootichi Samaariya'aa erge dhaggiisaaf ol bayiitii, «Waaqi Israa'el keessa waan hin jirreef, Ba'aal Zebubii waaqa qachaa Eqroonii gaafatiisaaf dhaxxanii?» jedhii gaafadhu.

⁴ Tanaaf Mootiin Waan Maraa, «Ee Ahaaziyaa, ati dhugumaan hin duuta malee, taqee irra irkate tana irraa hin kaatu!» jedha» jedhe.

Achiin duuba Eliyaas deeme.

⁵ Namooti ergamane sun gara mootichaa yennaa deebi'ane, mootichi, «Maaf deebitanee dhuttane?» jedhee isaan gaafate.

⁶ Isaanille, «Nami tokko karaa irratti nu dhaggee, gara mooticha isin ergee deebi'a'aatii, Mootiin Waan Maraa, «Waaqi Israa'el keessa waan hin

jirreef, Ba'aal Zebubii waaqa qachaa Eqroonii gaafatiisaaf, namoota ergitaa? Tanaaf dhugumaan hin duuta malee, taqee irra irkatto tana irraa hin kaatu!» jedheera» jedhane deebisane.

⁷ Mootichille, «Nami karaa irratti isin dhaggitanee, tana isinitti dubbate nama attam jiru?» jedhee isaan gaafate.

⁸ Isaanille, «Namicha dabbasicha*, hidha ifii teephaan hidhateeru» jedhane deebisane. Mootichille, «Inniin sun, Eliyaasii Tishbeeticha!» jedhe.

⁹ Achiin duuba mootichi ajajaa shantamaa, loltoota shantama isaa woliin gara Eliyaasii erge; ajajaan shantamaa sun gara Eliyaasii qaccee koobaa irra tee'eerruu dhaqee, «Nama Waaqaa, mootichi, «Koy, gad bu'i» si'iin jedha» jedheen.

¹⁰ Eliyaasille, ajajaa shantamaa saniin, «Ani nama Waaqaa yoo te'e, ibiddi ol gubbaa irraa bu'ee, si'ii fi loltoota teeti shantama muxuqi godhuu ti!» jedheen; yoosuma ibiddi ol-gubba'aa irraa bu'ee, ajajaa shantamaatii fi loltoota isaa shantama san muxuqi godhe.

¹¹ Mootichi ammalle ajajaa shantamaa dhibii loltoota isaa shantama woliin erge; ajajaan shantamaa sun gara Eliyaasii dhaqee, «Nama Waaqaa! Mootichi, «Ammuma koy, gad bu'i» si'iin jedha» jedheen.

¹² Eliyaasille deebisee, «Ani nama Waaqaa yoo te'e, ibiddi ol gubbaa irraa bu'ee, si'ii fi loltoota teeti shantama muxuqi godhuu ti!» jedheen; yoosuma ibiddi ol-gubbaa irraa bu'ee, ajajaa shantamaatii fi loltoota isaa shantama san muxuqi godhe.

¹³ Mootichi ammalle ajajaa shantamaa ka sadeesso'oo loltoota isaa shantama woliin erge; ajajaan shantamaa ka sadeesso'oo kun gara Eliyaasii ol bayee, isa duratti jilbiiffatee, «Nama Waaqaa! Maganne'ee, jiruu tiyyaa fi jiruu tajaajiltoota teeti shantama tanaa marari!

¹⁴ Kunoo, ibiddi ol-gubbaa irraa bu'ee ajajjoota shantamaa lamaa fi loltoota isaanii mara muxuqi godheera; amma ammoo jiruu tiyyaaf marari!» jedhee kadhate.

¹⁵ Achiin duuba ergamaan Mootii Waan Maraa Eliyaasiin, «Isa woliin gad bu'i; isa hin sodaatin» jedhe. Tanaaf, Eliyaas ka'ee ajajaa shantamaa san woliin gara mootichaa gad dhaqee,

¹⁶ mootichaan, «Mootiin Waan Maraa, «Waaqi isin gaafattanu Israa'el keessa waan hin jirreef, Ba'aal Zebubii waaqa qachaa Eqroonii gaafatiisaaf, namoota ergitee? Tanaaf dhugumaan hin duuta malee, taqee irra irkatto tana irraa hin kaatu!» si'iin jedha» jedheen.

¹⁷ Maarre akkuma jecha Mootiin Waan Maraa karaa Eliyaasiitiin dubbate, mootichi Ahaaziyaan du'e; Ahaaziyaan ilma waan hin qanneef, obboleessi isaa Yehoraam addee isaatitti mootii te'e. Tunille ilmi Yoshaafaaxii Yehoraam Yihudaa irratti mootii te'ee, woggaa lammeesso'ootitti teete.

¹⁸ Wonni dhibiin ta mootichi Ahaaziyaan huje duudiin kitaaba dabarsii mootota Israa'elii keessatti barreeffanteerti.

2

Eliyaas Gara Ol-gubba'aa Fudhatame

¹ Yennaan Mootiin Waan Maraa Eliyaas hobonbolatti'iin gara ol-gubba'aa fudhatu geette; Eliyaasii fi Elsaa'i Giilgalii ka'anee,

² adoo ideensa irra jiranuu, Eliyaas Elsaa'iin, «Mootiin Waan Maraa gara Bet'elii waan na ergeef, ati asuma turi!» jedhe.

* **1:8** *Namicha dabbasicha: Afaan Ibrootaatiin namicha woyaa dabbasittii uffateeru jedhamuulle hin dande'a.*

Elsaa'i ammoo deebisee, «Dhugaa Mootii Waan Maraa ka jiraataa te'ee, lubbuu teetiin kakadha! Ani si biraa hin hafu» jedheen. Maarre isaan gara Bet'elii gad dhaqane.

³ Raagoti Bet'el keessa jiranu, gara Elsaa'ii dhufanee, «Mootiin Waan Maraa, adha gootaa keeti si duraa akka fudhataaru beettaa?» jedhanee gaafatane.

Elsaa'i deebisee, «Eeti'i hin beeka; isin ammoo, marroo waan kanaa hin dubbatina'a» jedhe.

⁴ Achiin duuba Eliyaas Elsaa'iin, «Mootiin Waan Maraa gara Yeriko'oo waan na ergeef, ati asuma turi» jedhe.

Elsaa'ille deebisee «Dhugaa Mootii Waan Maraa ka jiraataa te'ee, lubbuu teetiin kakadha! Ani si biraa hin hafu!» jedhe. Maarre isaan gara Yeriko'oo dhaqane.

⁵ Raagoti Yerikoo keessa jiranu, gara Elsaa'ii dhaqanee, «Mootiin Waan Maraa, adha gootaa keeti si duraa akka fudhataaru beettaa?» jedhanee gaafatane.

Elsaa'i deebisee «Eeti'i hin beeka; isin ammoo, marroo waan kanaa hin dubbatina'a!» jedheen.

⁶ Achiin duuba Eliyaas Elsaa'iin, «Mootiin Waan Maraa gara laga Yordaanosii waan na ergeef, ati asuma turi» jedhe.

Elsaa'i ammoo deebisee, «Dhugaa Mootii Waan Maraa ka jiraataa te'ee, lubbuu teetiin kakadha! Ani si biraa hin hafu!» jedheen. Maarre isaan lamaanuu itti fufanee waliin ideemane.

⁷ Raagota keessalle'ee namooti shantam dhaqanee, addee Eliyaasii fi Elsaa'i dhaabbataneeranu irraa fagaatane, fuullee laga Yordaanosii dhaabbatane.

⁸ Achiin duuba Eliyaas geellaa ifii fuudhee, dachaasee ittiin bisaan dhowe; bisaan sun gargar citee, lafa godduu irra ideemanee gamatti bu'ane.

⁹ Isaan yennaa gamatti bu'ane, Eliyaas Elsaa'iin, «Ani adoo si duraa hin fudhatamin, maan akka si'iif godhu natti himadhu» jedhe.

Elsaa'i deebisee, «Magganne'e, qooda Ayyaana keetii dachaa* akka dhaalu na godhi» jedhe.

¹⁰ Eliyaas deebisee, «Ati waan jadduu gaafatte; te'uu malee yennaa ani si duraa fudhatamu yoo na dhaggite, waan gaafatte kana hin dhaggatta; yoo na dhagguu dhadde ammoo hin dhaggattu» jedheen.

¹¹ Adoo isaan waliin haasowaa ideemanuu, garreettaan fardaan harkifamu ka ibiddaati fi fardooleen ibiddaa wodhakkaa isaanii seentee, isaan lamaan gargar baatte. Eliyaasille hobonbolatti'iin gara ol gubba'aa fudhatame.

¹² Elsaa'i tana dhaggee, «Abbaa kiyya! Abbaa kiyya! Ka Israa'eliif garreettaa fardaati fi abbootii fardaa teete!» jedhee iyye; achiin duuba inni deebi'ee Eliyaas hin dhaggine.

Elsaa'i guddoo waan gaddeef, woyaa ifii addee lamatti tarsaase.

¹³ Elsaa'i woyaa Eliyaas irraa buute lafaa fuudhee, deebi'ee qarqara laga Yordaanosii dhaabbate.

¹⁴ Inni woyaa Eliyaas irraa buute fuudhee ittiin bisaan dhowe, «Mootiin Waan Maraa Waaqi Eliyaasii meet?» jedhe. Yennaa inni bisaan dhowe, bisaan gargar citee, Elsaa'ille gamatti bu'e.

¹⁵ Raagoti Yerikoo keessa jirtu fago'otti yennaa isa dhaggite, «Ayyaanni Eliyaasii Elsaa'i irratti bu'eera!» jette; isaan isa dhaggiisaaf dhaqanee, isa duratti lafatti gad gombifamanee,

* 2:9 Dachaa: Israa'el keessatti ilmi angafichi qooda dhaalaa keessaa dachaa fudhata.

¹⁶ «Kunoo, nuuti tajaajiltooti teeti namoota jajjaba shantama ifii biraa qanna; Ayyaanni Mootii Waan Maraa, gootaa keeti fuudhee gaara irratti yookiin dhooqa keessatti gateera fa'a te'a, dhaqanee isa barbaadanuu ti» jedhane.

Elsaa'i deebisee, «Waawwo'o! Isaan hin ergina'a» jedhe.

¹⁷ Isaan ammoo haga inni didiisaaf qaaneffatutti ittuma waan gaafataneef, inni «Erga'a» jedheen; maarre isaan namoota shantama san ergane; isaan ammoo guyyaa sad barbaadane isa dhabane.

¹⁸ Achiin duuba isaan gara Elsaaii qachaa Yeriko'ootitti isaan eegiisatti jiruu deebi'ane; Elsaai'ille, «Ani, «Hin deemina'a» jedhee isinitti hin hinnee?» jedhe.

Bilbaasota Qara Elsaai'i Godhe

¹⁹ Namooti gariin Yeriko'oo gara Elsaai dhufanee, «Ee gootaa keennaa akkuma ati dhaggitu, latti tun dansa'a; ammoo bisaan bada'a; lattille midhaan hin kennitu» jedhane.

²⁰ Elsaai'ille, «Qorii haareya keessa soodda buusa'aatii naa fida'a» jedhee ajaje. Isaanille akkuma inni ajaje qorii itti fidane.

²¹ Achiin duuba inni gara madda bisaanii dhagee, soodda bisaan keessa buusee, «Mootiin Waan Maraa, «Ani bisaan kana fayyiseera; hagonaa achi bisaan kun sababa du'aa yookiin latti midhaan akka hin kennine hin godhu» jedha» jedhe.

²² Maarre akkuma Elsaai dubbate, bisaan sun haga adhaa fayyaallessa.

²³ Elsaai gara Bet'elii ol dhage; inni karaa irra deemiisatti jiruun, ijoolleen qachaa keessaa gad yaatee qoonqoo guddo'oon, «Namicha mataa molu'uu asii ol deemi! Namicha mataa molu'uu asii ol deemi!» jedhaa itti murgite.

²⁴ Elsaai garagalee isaan ilaalee, maqaa Mootii Waan Maraatiin isaan abaare; achiin duuba doobbaan[†] dhalaan lama baddaa keessaa bayee, ijoollee san keessaa nama afurtamii fi lama kukkute.

²⁵ Elsaai gara gaara Qarmelosii ol baye; achille'een gara qachaa Samaariya'aa deebi'e.

3

Lola Wodhakkaa Israa'eliitii Fi Mo'aabiititti Te'e

¹ Yoshaafaax Yihudaa irratti mootii te'ee, woggaa kudhanii saddeetessoo'ootitti, ilmi Ahaabii Yehoraam Samaariyaa keessa tee'ee, Israa'el irratti woggaa kudhanii lama mootii te'e.

² Inni akka abbaa ifiitii fi haadha ifii hammeenna hujuu dhabaatulle, Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu hujeera; te'uu malee soodduu woyyittii Ba'aalii ta abbaan isaa huje san diige.

³ Ammoo inni cubbuu Yerobi'aamii ilma Nebaatii, ka Israa'eloota cubbuu hujisiise hordofe malee irraa hin deebine.

⁴ Mootiin Mo'aabii Meshaa'i hoolee horsiisaayyu; inni buruusoo hoole'ee kuma dhibba tokkoo fi korbeeyyii hoole'ee ta rifeensi irraa hin ciraamin* kuma dhibba tokko mootii Israa'eliitiif kennaayyu[†].

⁵ Mootiin Israa'elii Ahaab du'een duuba ammoo, mootiin Mo'aabii Meshaa'i Israa'el irratti ka'e.

⁶ Maarre yennuma san Yehoraam Samaariya'aa bayee, loltoota Israa'elii mara wolitti qabe.

[†] 2:24 Doobbaa: Gosa bineensa hamaa akka iyya'aa jiru tokkoo ti. * 3:4 Korbeeyyii hoole'ee ta rifeensi irraa hin ciraamin: Afaan Ibrootaatiin Rifeensi korbeeyyii hoole'ee kuma dhibba tokkoo jedhamuulle hin dande'a. [†] 3:4 Hiikkaan Aramayikii: Woggaa wogga'aan kenna Ka jedhu dabalata.

⁷ Mootii Yihuda'aa Yoshaafaaxille'etti ergee, «Mootiin Mo'aabii na irratti waan ka'eef, isa loliisaaf na woliin hin dhaxxaa?» jedhee gaafate.

Yoshaafaax deebisee, «Ani si woliin hin dhaqa; ani akkuma keeti; kolbaan tiyya teeti; fardoona tiyyalle teeti;

⁸ ammoo karaa kamiin itti duulla?» jedhee gaafate.

Mootichi Yehoraamille, «Karaa lafa goomolee Edoomiitiin» jedhee deebise.

⁹ Maarre mootiin Israa'elii, mootii Yihuda'aatii fi mootii Edoomii woliin duulaaf bayee ideeme; guyyaa torba deemanee duuba, loltootaa fi horii itti fe'atanee deemanu duraa bisaan dhumate.

¹⁰ Mootichi Israa'elii Yehoraam qoonqoo ol qabatee, «Aannee nu'uuf! Mootiin Waan Maraa nu mootota sadiin tana harka worra Mo'aabiititti dabarsee kennu'uufi?» jedhe.

¹¹ Mootichi Yoshaafaax ammoo, «Raagichi Mootii Waan Maraa ka nuuti karaa isaatiin Mootii Waan Maraa gaafannu as hin jiruu?» jedhee gaafate.

Tajaajiltoota mootii Israa'elii keessaa tokko, «Ilmi Shaafaaxii Elsa'i ka dur Eliyaas tajaajilaa ture as jira» jedhee deebise.

¹² Mootichi Yoshaafaaxille, «Inni dhugumaan raagicha Mootii Waan Maraa ti» jedhe. Maarre mootiin Israa'elii, mootiin Yihuda'aa Yoshaafaaxii fi mootiin Edoomii gara Elsa'i dhaqane.

¹³ Elsa'i, mooticha Israa'eliitiin, «Nu maan wol irraa qanna? Gara raagota abbaa keetiitii fi haadha teetii dhaqii gaafadhu» jedhe.

Mootichi Israa'elii deebisee, «Waawwo'o! Nu mootota sadiin tana harka worra Mo'aabiititti dabarsee kenniisaaf ka waame Mootii Waan Maraa ti» jedhe.

¹⁴ Elsa'ille, «Dhugaa Mootii Waan Maraa jiraataa, Waqa Waan Mara Dadee, ka ani tajaajiluu, ulfinna Yoshaafaaxii mooticha Yihuda'aatiif malee, ani ilaanuu si hin ilaaluuyyu yookiin si dhaggu'uuyyuu hin barbaadu.

¹⁵ Ammoo nama kiraara dhowu naa fida'a» jedhe.

Adoo namichi kiraara dhowiisatti jiruu, hunni Mootii Waan Maraa Elsa'i irratti buutee,

¹⁶ Elsa'ille, «Mootiin Waan Maraa, dhooqi tun boolla bisaaniitiin hin guutanti.

¹⁷ Qilleensa yookiin bokkeya hin dhaggitanu; te'uu malee dhooqi tun bisaaniin hin guutanti; isinii fi loon keessan, horiin keessan ka dhibiille hin untan» jedha.

¹⁸ Tun Mootii Waan Maraatiif kaso'o; inni worra Mo'aabiille harka keessanitti dabarsee hin kenna.

¹⁹ Isin qachaa isaanii ka dalleenni dhaka'aa itti ijaaramee fi qachaa isaanii dadansaa hin qabattan; muka isaanii dadansaa mara hin murtan; madda isaanii mara hin duuchitan; fichaa isaanii dadansaa mara dhaka'aan hin balleessitan» jedhe.

²⁰ Boruuyyaa ganama yennaa ciincaan ciinceffamutti bisaan karaa Edoomiitiin lola'iisa jalqabee latti bisaaniin guutante.

²¹ Mo'aaboti marti akka moototi sadiin sun isaan loliisaaf dhufane yennaa dhage'ane, nama meya lolaa hidhatuu dande'u mara dargaggeeyyi'ii fi jaarsolee wolitti waamanee, meessaa biyya sanii irratti eegane.

²² Barii ganama yennaa ka'anuu, aduun baatee bisaan irratti calalaxxee, worra fagoo jiranutti bisaan akka dhiigaa diimatee itti mudhatte.

²³ Achiin duuba isaan, «Kun dhiiga! Moototi sadiin sun wol lolanee wol qalaneeran; Mo'aabota, Ka'aa dhandhee boojinaa!» woliin jedhane.

²⁴Yennaa Mo'aaboti addee guttuma Israa'elii dhufanu, Israa'elooti ka'anees haga isaan baqatanutti isaan lolane; Israa'elooti lafa san timanee Mo'aabota fixane.

²⁵Qachoota isaanii balleessanee, fichaan dadansaan isaaniille haga dhaka'aan guutamutti nami marti dhakaa itti dadarbate; madda isaanii mara duuchanee, muka dadansaa isaanii mara muranee jijjissane. Qachaa Qir-Heresii qofatti dhakaa ifii woliin hafe; qachuma sanuu loltooti looyya'aan[‡] marsitee lolte.

²⁶Mootichi Mo'aabii lolli akka itti jabaate yennaa dhagge, namoota shallaagaa hidhatane dhibba torba fudhatee, karaa mooticha Edoomiitiin cassee seeniisaaf wodhaane; ammoo isaan hin dandeenne.

²⁷Achiin duuba mootichi Mo'aabii ilma ifii angaficha, ka addee isaatitti mootii te'uuf male, dalleya dhaka'aa ka qacha'aa irratti ciincaa dhikeesse; Israa'elooti tana rifatane, isa lakkisane gara lafa ifii deebi'ane.

4

Elsaa'i Haadha Hiyyeessaa Takka Qarqaare

¹Haati hiyyeessaa ta abbaan manaa isi'ii miseensa raagotaa te'e takka, gara Elsaai'ii dhuttee, «Tajaajilaan keeti, abbaan manaa kiyya du'eera; inni akka Mootii Waan Maraa sodaatu atinuu hin beetta; amma ammoo nami liqaa isa irraa qabu tokko, ilmaan tiyya lamaan fudhatee garbonfatiisaaf dhufeera» jettee itti himatte.

²Elsaa'i deebisee isi'iin, «Maan akka sii godhu barbaadda? Waan mana keeti keessaa qaddu natti himi» jedhe.

Isiin deebittee, «Ani tajaajiltuun teeti zayitii ejersaa meshoo diqqoo takka malee womaa manaa hin qabu» jette.

³Elsaa'i, «Gara ollaa keetii mara dhaqiitii okkotee duwwaa bacaa ergi-fadhu.

⁴Achiin duuba ilmaan teeti woliin gara manaa ol seeniitii balbala cufadhuu, zayitii ejersaa san okkotee maratti naqi; okkoteen marti yennaa guuttu jalaa fuudhii cinaa keyi» isi'iin jedhe.

⁵Maarre isiin isa biraa deentee, ifii fi ilmaan ifititti balbala cufattee, ilmaan isi'ii okkotee isi'iif dhikeessanuun, isiin zayitii meshoo keessaa san itti guutte.

⁶Okkoteen duudiin guutteen duuba, isiin ilma ifitiin, «Okkotee dhibii naa fidi» jette; inni ammoo deebisee, «Okkoteen dhibiin hin jirtu» jedheen. Achiin duuba Zayitiin ejersaa sun yaa'uu lakkitte.

⁷Isiin dhaxxee nama Waaqaa Elsaai'itti hinte; innille, «Dhaqiitii, zayitii san gurguriitii liqaa keeti kaffaladhu; waan hafeen atii fi ilmaan teeti ittiin le'uu dandeettan» jedheen.

Ilmi Dubartii Qachaa Shuneemii Du'aa Ka'e

⁸Gaafa tokko Elsaai'ii gara qachaa Shuneemii dhage; dubartiin dureettiin takka achi jirtiyyu. Isiin akka inni sagalee nyaatu kadhatte; maarre inni yennaa karaa san dabaru mara sagalee nyaatiisaaf achi goraayyu.

⁹Isiin abbaa manaa ifitiin, «Namichi yennaa mara karaa mana keennaa dabaru kun, woyyicha nama Waaqaa akka te'e ani hin beeka.

¹⁰Tanaaf heellichoo manaa irratti kolloo diqqoo isaaf jaarree, achi keessa taqee, xarapheessaa, barcuma'aa fi issaa isaaf keennuu ti; inni yennaa gara keenna dhufu mara achi keessatti foorfatuu dande'a» jette.

[‡] 3:25 Looyyaa: Yaadannoo 1 Sam. 17:40 irratti kenname ilaali.

¹¹ Gaafa tokko Elsa'a'i gara qachaa Shuneemii yennaa dhufe, gara kolloo ifii ol bayee achi irkate.

¹² Inni tajaajilaa ifii Gehaaziin, «Shuneemittii san waami» jedhe. Yennaa inni isii waame, isiin dhuttee isa dura dhaabbate.

¹³ Inni tajaajilaa ifitiin, «Ati haga kana mara nu'uuf rakkatteerta, ani maan si'iif godhu ree? Mootichatti yookiin ajajaa loltootaatitti maan si'iif himu ree?» jedhii isi'itti himi» jedhe.

Isiille deebittee, «Ani kolbaa tiyya odduu jira» jette.

¹⁴ Elsa'a'i, «Maan isi'iif godhu ree?» jedhe.

Gehaaz deebisee, «Be isiin ilma hin qaddu! Abbaan manaa isi'iille jaarsa» jedhe.

¹⁵ Achiin duuba Elsa'a'i, «Isii waami» jedhe. Maarre inni isii waamee, isiille dhuttee balbala dura dhaabbate.

¹⁶ Elsa'ille, «Bara dhufu yennaa akkanaa ilma hin annatta» jedheen.

Isiin, «Waawwo'ol! Gootaa kiyya, nama Waaqaa, ana tajaajiltuu teetitti dhara hin dubbatin» jetteen.

¹⁷ Ammoo akkuma Elsa'a'i isi'itti hime, dubartittiin sun ulfoottee, woggaa itti aantu yennuma inni dubbatetti ilma deette.

¹⁸ Mucaan sun yennaa guddate, gaafa tokko bayee gara abbaa ifii ka worra midhaan haamu woliin jiruu dhage.

¹⁹ Mucaan sun abbaa ifitiin, «Mataa kiyyaa! Mataa kiyyaa!» jedhe.

Abbaan tajaajilaa ifitiin, «Mucaa ba'adhuutii gara haadha isaa geessi» jedhe.

²⁰ Tajaajilaan sun mucaa ba'atee gara haadha isaa geesseen duuba, haga saatii jaa gudeeda haadha ifii irra tee'ee, achiin duuba du'e.

²¹ Isiin kolloo mana irraatitti ol baatee, taqee nama Waaqaa irra isa irkittee, balbala itti cuttee baatee ideente.

²² Isiin abbaa manaa ifii waantee, «Gara nama Waaqaa ariifadhee dhagee akka deebi'u, tajaajilaa tokkoo fi harree tokko naaf ergi» jetteen.

²³ Abbaan manaa isi'ii, «Adhi guyyaa baatii ji'aa yookiin guyyaa Sanbataatii motii? Maaf gara isaa dhaxxa?» jedhee gaafate.

Isiin, «Rakkoon hin jirtu» jette.

²⁴ Isiin harree kooraa itti fe'attee, tajaajilaa ifitiin, «Dura deemi; haga ani sitti himutti naaf jettee laana hin deemin» jette.

²⁵ Maarre isiin kaatee, gaara Qarmelosii gara nama Waaqaa Elsa'a'i bira dhaxxe.

Inni yennaa fago'otti isii dhagge, tajaajilaa ifii Gehaaziin, «Ilaa, Shuneemitii dhufiisatti jirti!

²⁶ Rukkisii itti dhaqiitii, «Ati nageyaa? Abbaan manaa keeti nageyaa? Mucaan keeti nageyaa?» jedhii isii gaafadhu» jedheen.

Isiin, «Wonni marti nageya» jette.

²⁷ Isiin gaara Qarmelosii nama Waaqaa Elsa'a'i bira yennaa geette, miila isaa qadde; Gehaaz isa irraa isii darbiisaaf gara isi'ii dhufe; Elsa'a'i ammoo, «Lakkis; isiin gadda hamaa keessa jirti; Mootiin Waan Maraa ammoo maaf akka gaddite na dhossee, natti hin hinne» jedhe.

²⁸ Isiin, «Gootaa kiyya, akka ati ilma naa kennitu si gaafadheeraa? Ani, «Dhara natti hin dubbatin» si'iin jedhee hin jiruu?» jetteen.

²⁹ Elsa'a'i, Gehaaziin, «Hidha keeti hidhadhuutii, ulee tiyya qabadhuu ariifadhuu deemi! Nama yoo dhaggite nageya hin fuudhin; yoo nami nageya si fuudhe, deebii isaaf hin kennin; yennaa achi geette ulee tiyya fuula muca'aa irra keyi» jedhe.

³⁰ Haati muca'aa ammoo, «Dhugaa Mootii Waan Maraa ka jiraataa te'ee, lubbuu teetiin kakadha! Ani si lakkisee hin deemu!» jetteen; maarre inni ka'ee isii gula deeme.

³¹ Gehaaz isaan dursee deemee, ulee Elsaa'i fuula mucaa irra keye; mucaan ammoo hin dubbanne yookiin hin tachoone; tanaaf Gehaaz gara Elsaa'ii deebi'ee, «Mucaan hin kaane» jedheen.

³² Elsaa'i dhufee yennaa mana seene, mucaan du'ee taqee isaa irra irka-teeruun dhagge.

³³ Inni kolloo san seenee ifii fi mucaa qofatti balbala cufatee gara Mootii Waan Maraa daadimate.

³⁴ Achiin duuba taqee yaabee, afaan ifii afaan muca'aa irra, ila ifii ila muca'aa irra, harka ifii harka muca'aa irra keyee reeffa muca'aa irra irkate; akkuma inni mucaa irra irkateen, nafi muca'aa o'uu jalqabe.

³⁵ Elsaa'i ol ka'ee kolloo keessa asii fi achi deemeen duuba, deebi'ee taqee yaabee mucaa irra irkate. Mucaalle yennaa torba haxxifatee, ila banate.

³⁶ Elsaa'i Gehaaz waamee, «Shuneemittii waami» jedheen. Innille isii waame. Isiin yennaa dhutte, Elsaa'i, «Ilma keeti fudhadhu» jedheen.

³⁷ Isiin ol seentee miila Elsaa'iititti jiddee, lafalle'etti gad gombifante. Achiin duuba ilma ifii fudhattee deente.

Elsaa'i Bilbaasota Dhibii Lama Huje

³⁸ Yennaa Elsaa'i gara Giilgalii deebi'e, lafa san keessa beelti jirtiyyu; raagoti isa dura tee'aneeranuun, inni tajaajilaa ifitiin, «Okkotee guddoo ibidda irra dhaabiitii, ittoo isaaniif huji» jedhe.

³⁹ Raagota san keessaa tokkochi baala nyaatanu guuratiisaaf diidatti bayee, waan buqqii fardaa fakkaatu dhaggee, midhaan isi'ii woyaa ifiititti guuree yennaa deebi'e, hoocee okkotee itto'oo sanitti nage. Midhaan maanii akka teete ammoo eennulle hin beenne.

⁴⁰ Raagoti akka nyaatanuuf ittoo isaaniif baasane; akkuma isaan afaaniin qabaneen ammoo, «Ee nama Waaqaa, okkotee tana keessa waan nama ijjeesutti jira!» jedhaa Elsaa'itti iyyane; nyaatiisaafille hin dandeenne.

⁴¹ Elsaa'i, «Bullaa diqqoo fida'a» jedhee gaafatee, okkote'etti naqee tajaajilaa ifitiin, «Kolbaan nyaattuutii baasiifi» jedhe. Achiin duuba okkotee san keessatti wonni nama miidhu tokkolle hin dhagganne.

⁴² Nami tokko Ba'aal-shaaliishii irraa, midhaan qara bilchaate irraa xaltaa daabboo garbu'uu diddamaa fi shawwee midhaanii qalgallu'utti Elsaa'iif fide. Elsaa'i tajaajilaa ifitiin, «Kolbaan nyaattuutii kenniif» jedhe.

⁴³ Tajaajilaan isaa ammoo, «Ani attamiin kana nama dhibbaaf dhikeessuu dande'aa?» jedhee gaafate.

Elsaa'i ammoo deebisee, «Mootiin Waan Maraa, «Kolbaan nyaattee quuttee irraa hin hafa» waan jedheef, nyaatanuu ti kenniif!» jedheen.

⁴⁴ Achiin duuba tajaajilaan isaa sagalee isaaniif dhikeesse; akkuma Mootiin Waan Maraa jedhe, isaan sagalee nyaatanee quufanee irraa hatte.

5

Na'amaan Dhukkuba Goga'aa Farrisiisaa Irraa Fayye

¹ Na'amaan ajajaa loltoota mootii Sooriya'aa ti; Mootiin Waan Maraa karaa isaatiin loltoota Sooriya'aatiif injifachaa waan kenneef, inni gootaa ifii duratti nama gudda'aa fi nama ulfinna qabu. Inni loltuu jaba'a; ammoo dhukkuba goga'aa farrisiisaa qabaayyu.

² Worri Sooriya'aa biyya Israa'elii lolee, intala diqqoo takka Israa'el keessaa booji'e; isiille haadha manaa Na'amaanii tajaajilaa turte.

³ Gaafa tokko isiin giittii ifitiin, «Gootaan kiyya gara raagicha Samaariyaa jiruu adoo dhaqee, inni dhukkuba kana irraa isa fayyisuu hin dande'a» jette.

⁴ Na'amaan waan kana yennaa dhage'e, gara mootichaa dhaqee waan intalti biyya Israa'eliitii dhutte jette san itti hime.

⁵ Mootichille, «Xalayaa kana fuudhiitii gara mooticha Israa'elii geessi» jedhe.

Maarre Na'amaan meetii gara kiiloogiraama dhibba sadii fi afurtamaa, worqii gara kiiloogiraama torbaatamaatii* fi woyaa adduu kudhan qabatee deeme.

⁶ Xalayaan inni gara mootii Israa'elii fuudhee deeme sun, «Tajaajilaa kiyya Na'amaan dhukkuba goga'aa farrisiisaa irraa akka fayyittuuf xalayaa kana itti kennee gara keeti ergeera» ka jedhu.

⁷ Mootichi Israa'elii xalayaa yennaa dubbise, gaddaan woyaa ifii tarsaasee, «Ani Waaqaa? Ani ijjeesuu, deebisee kaasuu hin dande'aa? Namichi kun maaf akka ani dhukkuba goga'aa farrisiisaa irraa fayyisuuf nama kana gara kiyya erge? Akka inni dubbii na irratti barbaadu dhagga'a» jedhe.

⁸ Nami Waaqaa Elsaai, akka mootiin Israa'elii gaddee woyaa ifii tarsaase yennaa dhage'e, «Maaf woyaa teeti tarsaatte? Israa'el keessa raagaan akka jiru akka inni beeku, namicha gara kiyya ergi» jedhee itti dhaame.

⁹ Maarre Na'amaan fardo'oo fi garreettota ifii ka fardo'oon harkifamu irra te'ee dhaqee, balbala mana Elsaai duratti dhaabbate.

¹⁰ Elsaai ille ergaa itti ergee, «Dhaqiitii laga Yordaanosiititti yennaa torba dhiqadhu; foon keeti adde'etti hin deebi'a; atille hin qulqulloota» jedhii itti himi» jedheen.

¹¹ Na'amaan ammoo aaree, «Dhugumaan inni gara kiyya gad bayee dhaabbatee, maqaa Mootii Waan Maraa Waaqa ifii waamee, harka ifii dhukkuba goga'aa farrisiisaa kiyya irra wirsee, waan na fayyisu seye.

¹² Lagi Damaasqo'oo Abaanaa fi Farphar, bisaan laga Israa'elii mara caalaa motii? Ani silaa isaan keessatti dhiqadhee hin qulqulloomuuyyu?» jedhee deebi'ee deeme.

¹³ Tajaajiltooti Na'amaanii gara isaa dhikaattee, «Abba'a, raagichi waan guddoo takka akka ati gootuuf adoo sitti himee jiraatee hin gootaayyuu motii? Amma dhiqadhuutii qulqullowi» yoo si'iin jedhe maanti si rakkise?» jedhane.

¹⁴ Maarre Na'amaan gara laga Yordaanosii gad bu'ee, akkuma nami Waaqaa isatti hime yennaa torba laga Yordaanosiititti ifi cuuphe; nafi isaalle adde'etti deebi'ee qulqulloo akka nafa ijoollee didiqqo'oo te'e.

¹⁵ Achiin duuba Na'amaan hordofattoota ifii mara woliin, gara Elsaai nama Waaqaa deebi'ee, isa dura dhaabbatee, «Israa'el keessa malee, Waaqi dhibiin biyya lafaa mara keessa akka hin jirre ani beekeera; maganne'e amma ana tajaajilaa keeti irraa kennansa kana fudhadhu» jedhe.

¹⁶ Elsaai deebisee, «Dhugaa Mootii Waan Maraa jiraataa ani tajaajiluu; ani waan tokkole hin fudhadhu» jedhe.

Na'amaan akka inni fudhatuuf kadhatulle, Elsaai ammoo fudhatiisa di-date.

¹⁷ Achiin duuba Na'amaan, «Ati Kennansa kiyya yoo fudhatuu didde, ani tajaajilaan keeti deebi'ee ijumaa Mootii Waan Maraatiif malee, waaqota dhibi'iif ciinca'aa fi woreega waan hin dhikeessineef, biyyee fe'iisa gaange'ee lama fuudhee akka deemu naaf eeyyam.

* 5:5 Kiiloogiraam torbaatama: Afaan Ibrootaatiin sheeqelii kuma jaa jedha.

¹⁸ Maarre goottaan kiyya waaqonfatiisaaf gara galma Rimoonii waaqa Sooriya'aa yennaa seenu, harka kiyyatti ciqilfatee waan sagaduuf, anille galma Rimoonii san keessatti yoo gad jedhe, Mootiin Waan Maraa marroo waan kanaatiif, ana tajaajilaa keetiif araaramuu ti» jedhe.

¹⁹ Elsaai, Na'amaaniin, «Nageyaan deem» jedhe.

Na'amaan diqqoo irraa fagaatee deemeen duuba,

²⁰ tajaajilaan Elsaai nama Waaqaa, Gehaaz, «Gootaan kiyya waan Na'amaaniin nami Sooriya'aa fide fudhatuu didee akkasumaan gad lakkise. Dhugaa Mootii Waan Maraa ka jiraataa te'ee, ani isa gula rukkisee woy isa irraa fudhadha» jedhee yaadate.

²¹ Maarre Gehaaz ka'ee Na'amaan gula rukkise; Na'amaan inni gara isaa rukkisuun yennaa dhagge, isa qophatiisaaf garreettaa fardaa ifii irraa bu'ee[†], «Nageyaayyuu?» jedhee gaafate.

²² Gehaaz deebisee, «Nageyuma, ammoo gootaa kiyyatti, «Raagota keessaa dargaggooti lama biyya koobittii Efreemiitii, gara kiyya waan dhufaneef, maganne'e meetii gara kiiloogiraama soddonii afuriitii[‡] fi woyaa guutuu ta jijjiirataa lama isaanii kenni» jedhee na erge» jedheen.

²³ Na'amaan, «Maganne'e, meetii gara kiiloogiraama jaatamii saddeetii fudhadhu» jedhe. Inni isa uttisee meetii gara kiiloogiraama jaatamii saddeetii[§] subba lama keessa keyee hidhee, woyaa guutuu ta jijjiirataa lama woliin, tajaajiltoota ifii keessaa nama lamatti kenne; isaanille ba'atanee Gehaaziin dura deemane.

²⁴ Kooba Elsaai le'u yennaa geyane, Gehaaz meya ba'atane tajaajiltoota irraa fuudhee, mana keessa keye. Achiin duuba tajaajiltoota Na'amaanii gad lakkise; isaanille deemane.

²⁵ Gehaaz gara manaa seenee, gootaa ifii Elsaai dura dhaabbate. Elsaai'ille, «Gehaaz! Haga ammaa eessa jirta?» jedhee isa gaafate.

Innille deebisee, «Gootaa kiyya, ani tajaajilaan keeti eessalle hin dhandhe» jedhe.

²⁶ Elsaai ammoo, «Namichi si qophatiisaaf garreettaa ifii ka fardaan harkifamu irraa yennaa baye, ani ayyaanaan si woliin hin jiruuyyuu? Yennaan tun yennaa beese, woyaa, fichaa muka ejersaatii fi fichaa muka woyni'ii, hoole'ee fi horii, yookiin tajaajiltoota dhiiraatii fi durraa fudhatanuu ree?

²⁷ Tanaaf, dhukkubi goga'aa farrisiisaan Na'amaanii haga bara baraa si'ii fi sanyii teetitti hin dabara» jedhe.

Achiin duuba Gehaaz dhukkuba goga'aa farrisiisa'aan qabamee adii akka dhakaa bokkeyaa te'ee isa duraa bayee deeme.

6

Agaraan Bisaan Gubba'atti Ol Baye

¹ Korri raagotaa, Elsaai'ii, «Addeen nuuti si woliin le'iisatti jiru guddoo nutti dhipho'o.

² Gara laga Yordaanosii dhandhee, muka murannee, mana keessa leenu akka ijaarannu nuuf eeyyam» jedhane.

Elsaai'ille, «Dhaqa'a» isaaniin jedhe.

³ Achiin duuba raagota keessaa tokkochi, «Maganne'e, atille nu tajaajiltoota teeti woliin hin dhaxxuu?» jedhe;

Elsaai'ille, «Hin dhaqa» jedhee,

[†] 5:21 Garreettaa irraa bu'e: Garreettaa irraa baye jechu'u. [‡] 5:22 Kiiloogiraama soddonii afur: Afaan Ibrootaatiin Taalentii tokko jedha. [§] 5:23 Kiiloogiraama jaatamii saddeeti: Afaan Ibrootaatiin Taalentii lama jedha.

⁴ woliin deemane. Isaan yennaa Yordaanos geyane, muka muruu jalqabane.

⁵ Isaan keessaa tokkochi adoo muka muruu, agaraan buqqa'ee bisaan keessa bu'e. Inni iyyee, «Hoola! Goottaa kiyya agaraan ka ergisa'aa ti» jedhe.

⁶ Nami Waaqaa Elsaa'i, «Eessaan bu'e?» jedhee gaafate.

Namichi addee agaraan bu'e Elsaa'itti yennaa mudhise, inni muka tokko muree achi bisaan keessa buusee, akka agaraan bisaan gubba'atti bayu godhe.

⁷ Elsaa'i, namichaan, «Baasiitii fudhadhu» jedhe; namichille hiixatee fudhate.

Elsaa'i Loltoota Sooriya'aa Ila Jaamse

⁸ Mootichi Sooriya'aa Israa'el woliin loliisatti adoo jiruu, qondaaltota ifii woliin mari'atee, «Ani quttuma kiyya addee akkasiitii fi akkasiititti godhadha» jedhe.

⁹ Nami Waaqaa Elsaa'i ammoo, «Worri Sooriya'aa achitti gad bu'iisatti waan jiranuuf, karaa san akka hin dabarre» jedhee mooticha Israa'eliititti erge.

¹⁰ Maarre mootichi Israa'elii addee nami Waaqaa Elsaa'i isa ifi eeggachiise san nama itti ergee qorqore; nami Waaqaa Elsaa'i yennaa hedduu isa ifi eeggachiisee, mootichille achi irraa ifi eeggate.

¹¹ Mootichi Sooriya'aa waan kana guddoo aaree, qondaaltota ifi waamee, «Nu keessaa mootii Israa'eliitiif ka dooyu, eennu akka te'e natti hin hintanuu?» jedhee gaafate.

¹² Qondaaltota isaa keessaa tokkochi, «Ee, gootaa kiyya mooti'i! Waan dhossa'aa ta ati kolloo taqee teetii keessatti dubbattu mara, mootii Israa'eliititti ka himu raagicha Elsaa'i malee, nu keessaa ka himu eennulle hin jiru» jedhee deebise.

¹³ Mootichi Sooriya'aa, «Akka ani namoota itti ergee isa qabu, dhaqa'aatii addee inni jiru barbaada'a» isaaniin jedhe.

Isaan, «Inni qachaa Dootaanii keessa jira» jedhanee mootichatti himane.

¹⁴ Achiin duuba mootichi loltoota hedduu fardo'ootii fi garreettaa fardaan harkifamuu gara qachaa Dootaanii erge. Isaan halkaniin achi geyanee, qachaa san marsane.

¹⁵ Boruyyaa barii ganama tajaajilaan nama Waaqaa Elsaa'ii ka'ee yennaa gad baye, loltooti fardo'ootii fi garreettaa fardaan harkifamuu qachaa marsiteertuun dhaggee, nama Waaqaa Elsaa'i'iin, «Hoola! Gootaa kiyya! Maan goonu nuu woyya?» jedhee gaafate.

¹⁶ Elsaa'ille, «Hin sodaatin; worra isaan woliin jiru caalaa worra nu woliin jirutti caala» jedheen.

¹⁷ Achiin duuba Elsaa'i, «Ee Mootii Waan Maraa! Akka inni dhaggu ila isaa bani!» jedhee daadimate; Mootiin Waan Maraa ila tajaajilaa Elsaa'ii waan baneef, tajaajilaan sun fardoo ibiddaa heddu'uu fi garreettaan fardaan harkifamu ka ibiddaa hedduun kooba guuttee adaala Elsaa'ii mara jirtuun dhagge.

¹⁸ Worri Sooriya'aa gara Elsaa'ii gad yennaa dhufane, inni, «Kolbaa tana ila isaanii jaamsi» jedhee gara Mootii Waan Maraa daadimate. Akkuma Elsaa'i gaafate Mootiin Waan Maraa ila isaanii jaamse.

¹⁹ Achiin duuba Elsaa'i isaaniin, «Karaalle, qachaalle kanaa moti; na gula kowa'a; ani gara nama isin barbaaddanuu isin hin geessa» jedhee gara qachaa Samaariya'aa isaan geesse.

²⁰ Akkuma isaan qachaa seenaneen Elsaa'i, «Ee, Mootii Waan Maraa! Akka isaan dhagganu ila isaanii bani» jedhe; maarre Mootiin Waan Maraa ila

isaanii banee, isaanille ilaalanee qachaa Samaariya'aa keessa akka jiranu dhaggane.

²¹ Mootichi Israa'elii yennaa isaan dhagge, «Abbaa kiyya! Isaan ijjeesuu? Isaan ijjeesuu?» jedhee Elsa'i gaafate.

²² Elsa'ille, «Waawwo'o! Loltoota shallaaga'aa fi guubee teetiin boojite hin ijjeettaa? Akka isaan nyaatanuu fi unanu sagale'ee fi bisaan kenniif; achiin duuba gara mootii ifii deebi'anuu ti» jedheen.

²³ Maarre mootiin Israa'elii areertii guddoo isaaniif godhee, isaan nyaataneen unaneen duuba gad isaan lakkise; isaanille gara mootii ifii deemane. Yennaa saniin jalqabaneen, gareen loltoota sooriya'aa lafa Israa'elii loliisatti hin deebine.

Marfamiisa Qachaa Samaariya'aa

²⁴ Yennaa diqqo'oon duuba, mootiin Sooriya'aa Ben-hadaad loltoota ifii duudii wolitti qabatee, qachaa Samaariya'aa marse.

²⁵ Qachaan sun marfamee waan tureef beelti hantuun seentee, gatiin mataa harree tokkoo meetii gara kiiloogiraama tokkoo*, udaan saphaliisaa ka gara giraama dhibba lamaa, meetii gara giraama jaatamaa† baasuu jalqabe.

²⁶ Gaafa tokko mootiin Israa'elii dalleya dhaka'aa ka qacha'aa san irra ideemaa dabariisatti adoo jiruu, dubartiin takka qoonqoo ol qabatee, «Ee, gootaa kiyya mooti'i, maganne'e na qarqaar» jetteen.

²⁷ Mootichille, «Mootiin Waan Maraa yoo si hin qarqaarin, ani attamiin si qarqaaruu dande'a ree? Eeddummee tiyya irraa moo? Addee cunfaa woyni'ii tiyya irraa?» jedheen.

²⁸ Achiin duuba, «Rakkoon teeti maan» jedhee isii gaafate. Isiille, «Dubartiin tun, «Adha ilma keeti fidi hin nyaanna; boru ilma kiyya hin nyaanna» anaan jetteerti.

²⁹ Tanaaf ilma kiyya iffeelannee nyaanne. Boruyyaa, ani, «Ilma keeti fidi hin nyaanna» jedhee gaafadhe. Isiin ammoo ilma ifii dhoffatte» jetteen.

³⁰ Mootichi tana yennaa dhage'e, gaddee woyaa ifii tarsaase; adoo inni dalleya dhaka'aa irra ideemaa dabariisatti jiruu, inni woyaa gaddaa nafa ifiititti aanfatee uffateeruun kolbaan isa dhaggite.

³¹ Mootichille qoonqoo ol qabatee, «Adha mataan Elsa'ii ilma Shaafaaxii yoo isa irraa hin muramin, Waaqi na ijjeesuu ti!» jedhe.

³² Inni ifiin dura nama gara Elsa'ii erge. Yennaa kana Elsa'i, jaarsolee isa ilaaliisaaf dhutte woliin mana ifii keessa jiraayyu; namichi gara Elsa'ii ergame adoo isa bira hin geyin, Elsa'i jaarsolee saniin, «Namichi nama ijjeesu sun na ijjeesisiisaaf nama natti ergeera. Yennaa inni as gewu balbala itti cufa'aatii, seensa isa dhoogga'a. Gootaan isaalle duuba isaatiin dhufiisatti jira» jedhe.

³³ Adoo inni isaan woliin dubbatiisatti jiruu, ergamaan sun gara isaa dhufe. Mootichille‡, «Balaan kun Mootii Waan Maraa biraa dhufe; haganaa achi ani maan isa irraa eegadha ree?» jedhe.

7

¹ Elsa'i deebisee, «Jacha Mootii Waan Maraa dhage'i! Mootiin Waan Maraa, «Boru yennaa tana karra qachaa Samaariya'aatitti, bullaan qamadi'ii

* **6:25** Kiiloogiraama tokko: Afaan Ibrootaatiin *sheeqelii saddeettama* jedha. † **6:25** Meetii giraama jaatamaa: Afaan Ibrootaatiin *meetii sheeqelii shan* jedha. ‡ **6:33** Mootichille: Afaan Ibrootaatiin *Ergamaalle* jedha.

dansaan kiiloon sad yookiin bullaan garbu'uu kiiloon jaa meetii gara giraama kudhanii lamaatitti hin gurguraman» jedha» jedhe.

² Qondaaltichi mootichi itti ciqilfatu, nama Waaqaa Elsaa'iin, «Mootiin Waan Maraa foddada ol gubba'aa yoo banelle, tun te'uu hin dandeettii ree?» jedhe.

Elsaa'i deebisee, «Ati tana ila teetiin hin dhaggita; ammoo tokkolle afaaniin hin qaddu!» jedhe.

Baqatiisa Loltoota Sooriya'aa

³ Karra qachaa Samaariya'aa dura, namooti afur ka dhukkuba goga'aa farrisiisa'aan qabamaneeranu jiraniyyu; isaan, «Maaf haga duunu as teenna?

⁴ Nuuti, «Gara qacha'aa seenna» yoo jenne, achi beelti waan jirtuuf, hin duuna; yoo asitti hannelle hin duuna; maarre gara quttuma worra Sooriya'aa dhandhuu ti. Yoo isaan nu hamburane, hin jiraanna; yoo nu ijjeesanelle hin duuna» woliin jedhane.

⁵ Maarre isaan galgala dimimmisa, gara quttuma worra Sooriya'aa dhaqane. Yennaa achi geyanu nami tokkolle achi hin jiru.

⁶ Loltooti Sooriya'aa hididdeettii garreettaa fardaan harkifamuu, hididdeettii fardo'ootii fi loltoota heddu'uu akka dhage'anu, Mootiin Waan Maraa waan godheef, isaan, «Mootiin Israa'elii mootii Heetotaatii fi mootii Gibxi'ii akka nu lolanuuf nutti biteera» woliin jedhane.

⁷ Tanaaf galgala san worri Sooriya'aa dunkaanii ifii, fardoo ifitii fi harree ifii, addee quttuma ifille akkuma jirtutti lakkisane, lubbuu ifii hamburatiisaaf baqatane.

⁸ Namooti dhukkuba goga'aa farrisiisa'aan qabamaneeranu sun, addee quttuma worra Sooriya'aa yennaa geyane, dunkaanii takka seenanee, waan achi jiru nyaatanee unanee, meetii, worqi'ii fi woyaa fudhatanee, dhaqanee dhoffatane; achiin duuba isaan deebi'anee dunkaanii dhibii seenanee, achi keessalle'ee waan dhibii fudhatanee, dhaqanee dhoffatane.

⁹ Achiin duuba isaan, «Wonni nuuti hujiisatti jirru sirri'ii moti; guyyaan adhaa guyyaa oduu gammadaa himanu; nuuti ammoo cadhi jenne; haga latti bariitutti yoo turre, hin adabanna; tanaaf ammuma gara mana mootumma'aa dhandhee hinuu ti» woliin jedhane.

¹⁰ Maarre isaan dhaqanee, eeddota karra qacha'aa waamanee, «Gara addee quttuma worra Sooriya'aa dhandhee, fardo'oo fi harree hidhamane malee, nami tokkolle hin jiru; qoonqoo nama tokkoolle hin dhageenne; dunkaanti isaaniille akkuma jirtutti jirti» jedhane himane.

¹¹ Achiin duuba eeddota karra qacha'aa oduu san, worra mana mootumma'aa keessa jirutti himane.

¹² Mootichi halkaniin ka'ee, qondaaltota ifitiin, «Waan worri Sooriya'aa nu irratti hujiisatti jiru, ani isinitti hima. Isaan akka nuuti beela irra jiru hin beekan; maarre isaan, «Isaan qachaa keessaa bayiisa hin dhabanu; nuutille jiru'uun isaan boojinee, gara qachaa sanii hin seenna» jedhane yaadane, addee quttuma ifii lakkisane dhokatiisaaf, qacha'aan alatti bayane» jedhe.

¹³ Qondaaltota isaa keessaa tokkochi, «Kolbaan as keessatti hattelle, akkuma kolbaa Israa'elii ta tanaan gara dhumattee te'iis isaanii waan hin oolleef, namooti gariin fardoo asitti hatte shan fudhatanee dhaqanee waan te'e akka hubatanuuf, erginee ilaalla» jedhe.

¹⁴ Maarre isaan garreettaa fardaan harkifamu lama fardoo woliin filane; mootichille namoota san loltoota Sooriya'aa gula ergee, «Dhaqa'aatii, waan te'e ilaala'a» jedhee ajaje.

¹⁵ Isaanille haga laga Yordaanosii loltoota Sooriya'aa gula deemanee, loltooti Sooriya'aa ariiti'iin yennaa baqatanu wo'aa fi meya karaa mara irratti gatane dhaggane. Maarre worri ergame sun deebi'ee mootichatti hime.

¹⁶ Achiin duuba Kolbaan Samaariya'aa baatee, addee quttuma worra Sooriya'aa saante; maarre akkuma Mootiin Waan Maraa dubbate, bullaan qamadi'ii dansaan kiiloon sad yookiin bullaan garbu'uu kiiloon jaa meetii gara giraama kudhanii lamaatitti gurguramane.

¹⁷ Yennaa tana mootichi Israa'elii, qondaalticha mootichi itti ciqilfatu, itti gaafatamaa seensuma karra qacha'aa waan godheeruuf, kolbaan isa irra sirbatee, akkuma nami Waaqaa Elsaai yennaa mootichi gara mana isaa dhufe raage, innille du'e.

¹⁸ Akkuma nami Waaqaa Elsaai mootichaan, «Boru yennaa tana karra Samaariya'aa duratti bullaan qamadi'ii dansaan kiiloon sad yookiin bullaan garbu'uu kiiloon jaa meetii gara giraama kudhanii lamaatitti hin gurguraman» jedhe muummotte.

¹⁹ Qondaaltichi sun nama Waaqaa Elsaaiin, «Mootiin Waan Maraa foddaa ol gubba'aa yoo banelle, tun te'uu hin dandeettii ree?» waan jedheeruuf, Elsaai, «Ati tana ila teetiin hin dhaggita; ammoo tokkolle afaaniin hin qaddu!» jedhee deebiseeraayyu.

²⁰ Namooti seensuma karra qacha'aa keessatti isa irra sirbanee inni waan du'eef, wonni isa irratti raagame dhugumaan teete.

8

Latti Dubartittii Shuneemitti'ii Deebiteef

¹ Elsaai dubartittii qachaa Shuneemii keessa leetu, ta ilma isi'ii du'aa kaaseen, «Mootiin Waan Maraa beelti woggaa torbaa lafa irratti akka buutu waan murteesseef, maatii teeti woliin yenna'aaf addee le'uu dandeettu deemi» jedhe.

² Maarre isiin kaatee akkuma nami Waaqaa Elsaai isi'iin jedhe goote; maatii ifii woliin gara biyya Filisxeemotaa dhaxxee woggaa torba achi leete.

³ Dhuma woggaa torbaa irratti, isiin lafa Filisxeemotaatii deebitee, marroo manaa fi fichaa ifii iyyatiisaaf gara mootichaa dhaxxe.

⁴ Yennaa san Mootichi, «Bilbaasota Elsaai huje duudii natti himi» jedhaa tajaajilaa Elsaai nama Waaqaa Gehaaz woliin dubbatiisatti jiraayyu.

⁵ Mucaa du'e Elsaai attam akka kaase, Gehaaz mootichatti adoo himiisatti jiruu, dubartittiin Elsaai ilma isi'ii du'aa kaase dhuttee, marroo manaa fi fichaa ifii mootichatti iyyatte. Gehaaz, «Goottaa kiyya mooticha! Dubartittiin isii tana; ilmi isi'ii ka Elsaai du'aa kaaselle isa kana» jedhee mootichatti hime.

⁶ Mootichi marroo dubbii tanaa isii gaafate; isiille isatti hinte. Achiin duuba mootichi marroo haajaa isi'ii kanaaf qondaalticha tokkoon, «Waan isi'ii mara, haga isiin biyya irraa deenteen jalqabee haga ammaa waan fichaa isi'ii irraa dhaggame mara isi'iif deebisiis» jedhe.

Du'a Ben-hadaadii

⁷ Mootichi Sooriya'aa Ben-Hadaad yennaa dhibameeru, Elsaai gara Damaasqo'oo dhage; «Elsaai as dhufeera» jedhanee mootichatti yennaa himane,

⁸ mootichi Hazaa'eliin, «Kennansa kana nama Waaqaa Elsaaiif geessii dhaqiitii ani dhibee tana irraa yoo fayyu te'e, karaa isaatiin Mootii Waan Maraa naaf gaafadhu» jedhe.

⁹ Maarre Hazaa'el, waan dadansaa qachaa Damaasqo'oo keessaa mara fe'iisa gaala afurtatamaa Elsaai'if geesse. Inni dhaqee Elsaai' dura dhaabbatee, «Tajaajilaan* keeti mootichi Sooriya'aa Ben-hadaad, «Ani dhibee tana irraa hin fayyaa?» jedhee gara keeti na ergeera» jedhe.

¹⁰ Elsaai' deebisee, «Dhaqiitii, «Ati dhugumaan hin fayyita» jedhiin; Mootiin Waan Maraa ammoo akka inni dhugumaan du'u natti mudhiseera» jedhe.

¹¹ Nami Waaqaa Elsaai' haga Hazaa'el fukkifatutti ila irraa adoo hin buqqifatin isa ilaalee, achiin duuba bowe.

¹² Hazaa'el, «Ee gootaa kiyya! Maaf bootta?» jedhee gaafate.

Elsaai'ille, «Waan hantuu ati Israa'eloota irratti gootu waan beekuuf bowa; qachaa isaanii ka dalleya dhaka'aatiin marfame ibiddaan hin gudda; dargaggoota isaanii shallaaga'aan hin ijeetta; ijoollee isaanii lafatti hin dhootta; dubartoota isaanii ta ulfa qaddu gadhaa hin baqassita» jedhe.

¹³ Hazaa'el, «Ani tajaajilaan keeti sareen kun, attamiin waan guddoo akkasii godhuu dande'aa?» jedhee gaafate.

Elsaai' deebisee, «Ati mooticha worra Sooriya'aa akka teetu Mootiin Waan Maraa natti mudhiseera» jedhe.

¹⁴ Achiin duuba Hazaa'el, Elsaai' biraa deemee gara Ben-hadaadii gootaa ifii deebi'e; yennaa san Ben-hadaad, «Elsaai' maan si jedhe?» jedhee gaafate.

Hazaa'el deebisee, «Ati dhugumaan akka fayyitu natti hime» jedhe.

¹⁵ Boruyyaa ammoo Hazaa'el bullukkoo fuudhee bisaan keessa cuuphee, fuula mootichaa irra buusee buqee ijeese.

Achiin duuba Hazaa'el addee Ben-hadaadiititti mootii worra Sooriya'aa te'e.

Yehoraamii Mootii Yihuda'aa

¹⁶ Ilmi Ahaabii Yoraam Israa'el irratti mootii te'ee woggaa shaneesso'ootitti, ilmi Yoshaafaaxii Yehoraam biyya Yihuda'aa irratti mootii te'e.

¹⁷ Inni yennaa mootii te'e nama woggaa soddonii lamatti ti; Yerusaalem keessa tee'ee woggaa saddeeti bulche.

¹⁸ Yehoraam intala Ahaabii waan fuudheef, akkuma maatiin Ahaabii goote karaa mootota Israa'elii hordofee, Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu huje.

¹⁹ Te'uu malee, Mootiin Waan Maraa tajaajilaa ifii Daawitiif jedhee, isaa fi sanyii isaa keessaa haga bara baraa mootiin akka hin dhabanne waadaa waan galeeruuf, Yihudaa balleessuu hin barbaanne.

²⁰ Bara mootummaa Yehoraamii Edoom Yihudaa irratti kaatee, mootii ifii mootonfatte.

²¹ Maarre Yehoraam garreettaa fardaan harkifamu ka ifii mara fudhatee Saa'iiritti duule. Worri Edoomii isaa fi ajajjoota isaa ka garreettaa fardaan harkifamuu marsane; innii fi ajajjooti isaa ka garreettaa fardaan harkifamuu ammoo, halkaniin ka'anee worra Edoomii lolanee dhoosane bayanee, baqatanee gara mana ifii deebi'ane.

²² Yennaa sanii jalqaddee biyyi Edoomii bulchiinsa Yihuda'aa irratti kaatee finqilte. Liibnaalle yennuma san finqilte.

²³ Wonni dhibiin ta mootichi Yehoraam huje duudiin, kitaaba dabarsii mootota Yihuda'aa keessatti barreeffanteerti.

²⁴ Yehoraam du'ee qachaa Daawitii keessatti abbootii ifi ta durii biratti awwaalame. Ilmi isaa Ahaaziyaan addee isaatitti mootii te'e.

Mootii Yihuda'aa Ahaaziya

* **8:9 Tajaajilaan keeti:** Barreeffama Ibrootaa keessatti ilmi keeti jedha.

²⁵ Ilmi Ahaabii Yoraam Israa'el irratti mootii te'ee woggaa kudhanii lammeesso'ootitti, ilmi Yehoraamii Ahaaziyaan biyya Yihuda'aa irratti mootii te'e.

²⁶ Ahaaziyaan mootii yennaa te'e nama woggaa diddamii lamaa ti; inni Yerusaalem keessa tee'ee woggaa tokko bulche; maqaan haadha isaa Ataaliya'a; isiin intala Ahaabii ilma Omirii mootii Israa'elii ti.

²⁷ Ahaaziyaan fuudhaa fi heerumaan maatii Ahaabii woliin waan firooma-neef, karaa maatii Ahaabii hordofee, Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu huje.

²⁸ Ahaaziyaan Yoraamii ilma Ahaabii woliin mooticha Sooriya'aa Hazaa'el Raamoot-Giili'aaditti loliisaaf dhage; worri Sooriya'aa Yoraam madeesse.

²⁹ Mootichi Yoraam madaa ifii ta mooticha Sooriya'aa Hazaa'el woliin adoo wol loluu Raamootitti madowe san fayyiisaaf gara Yizre'elii deebi'e; ilmi Ahaabii Yoraam waan madoweeruuf, ilmi Yehoraamii Ahaaziyaan mootiin Yihuda'aa isa gaafatiisaaf Yisre'el dhage.

9

Yehuun Muudamee Mootii Israa'elii Te'e

¹ Yennaa san raagichi Elsaa'i, miseensa raagotaa keessaa tokko waamee, «Hidha keeti hidhadhuutii, okkotee zayitii ejersaa tana fuudhiitii, Raamoot-Giili'aad deemi.

² Yennaa achi geette ilma Yoshaafaaxii akaakoo Niimshii Yehuu barbaadi; worra isa woliin jiru biraa qofitti isa baasiitii gara kollo'oo seensisi.

³ Zayitii ejersaa tana mataa isaa irratti naqiitii, «Mootiin Waan Maraa: mootii Israa'elii akka teetu ani si muudeera siin jedha» jedhiin. Achiin duuba adoo hin turin, balbala banadhuutii baqadhu» jedhe.

⁴ Maarre dargaggeessi raagichi Raamoot-Giili'aad dhage.

⁵ Yennaa inni achi geye, ajajjooti loltootaa wolitti qabamanee tee'anuu dhaggee, «Ajaja'al Ani ergaa sitti himu qaba» jedhe.

Yehuun, «Nu keessaa eennutti hinta?» jedhee gaafate.

Raagichi, «Ajaja'a, si'itti hima» jedhee deebise.

⁶ Achiin duuba Yehuun ka'ee mana seene. Raagichi dargaggeessi zayitii ejersaa mataa Yehu'uu irratti naqee, «Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii: «Kolbaa Mootii Waan Maraa Israa'elii irratti mootii akka teetuuf ani si muudeera.

⁷ Ani dhiiga tajaajiltoota tiyya raagotaatii fi dhiiga tajaajiltoota tiyya maraa, Iizaabel irratti haluu akka bayu, ati maatii gootaa keeti Ahaabii hin balleessita.

⁸ Maatiin Ahaabii marti hin baddi; maatii isaa dhiira ka te'e, garba yookiin garba ka hin te'in mara Israa'el keessaa hin balleessa.

⁹ Maatii Ahaabii akka maatii Yerobi'aamii ilma Nebaatii, akka maatii Baa'ishaa ilma Ahiiya'aa hin godha.

¹⁰ Lafa Yizre'eliititti sareeleen Iizaabel hin nyaatti; nami tokkolle isii hin awwaalu» jedha» jedhee, raagichi dargaggeessi balbala banatee baqate.

¹¹ Yennaa Yehuun gara ajajjoota loltoota gootaa ifii deebi'ee gad baye, isaan keessaa tokkochi, «Wonni marti nageyaa? Namichi maraataan kun maaf gara keeti dhufe?» jedhee gaafate.

Yehuun deebisee, «Heci, namichalle, waan inni dubbatulle isinuu hin beettan» jedhe.

¹² Isaan deebisanee, «Nutti himi malee, tun dhuga'aa moti» jedhane.

Yehuulle, «Wonni inni natti hime, Mootiin Waan Maraa, «Ani akka ati mootii Israa'elii teetuuf si muudeera» siin jedha» naan jedhe.

¹³ Achiin duuba isaan marti woyaa ifi irraa baafatanee, yaabbannoo Yehuun irra deemu irratti afaneeffii, tultullaa afuufaa, qoonqoo ol qabatanee, «Yehuun mooti'i» jedhane.

Yehuun Yoraamii fi Ahaaziyaa Ijjeese

¹⁴ Maarre Yehuun ilmi Yoshaafaaxii akaakoon Niimshii, Yoraam irratti mala dhowe; yennaa san Yoraamii fi namooti Israa'elii marti mootichi Sooriya'aa Hazaa'el Raamoot-Giili'aad akka hin lolle eegiisatti jiraniyyu.

¹⁵ Mootichi Yoraam ammoo madaa ifii ta mooticha Sooriya'aa Hazaa'el woliin adoo wol loluu loltooti Sooriya'aa isa madeessite san fayyiisaaf Yizre'elitti deebi'eeraayyu; Yehuun, «Kun yaada keessan yoo te'e, nami tokkole qachaa kana keessaa miliqee bayee, Yizre'el keessatti dubbii tana akka hin dubbanne eega'a» jedhe.

¹⁶ Yennaa san Yoraam dhibamee qachaa Yizre'elii keessa waan irka-teeruuf, Ahaaziyaan mootiin Yihuda'aa isa ilaaliisaaf gad bu'e; tanaaf Yehuun garreettaa ifii ka fardaan harkifamu irra tee'ee, gara qachaa Yizre'elii dhage.

¹⁷ Eeddichi xelleephoo dalleya Yizre'elii irra jiru, loltooti Yehu'uu dhu-faaranuun dhaggee, qoonqoo ol qabatee, «Loltoota dhufiisatti jiranu takka dhagge!» jedhe.

Yoraam deebisee, «Abbaa fardaa tokko itti ergiitii, «Isin nageyaafuu dhu-faartanii?» jedhee gaafatuu ti» jedhe.

¹⁸ Abbaan fardaa sun farda irra tee'ee gara Yehu'uu dhagee, «Mootichi, «Nageyaafuu dhufaartanii?» isiniin jedha» jedhee gaafate.

Yehuun deebisee, «Ati Nageya irraa maan qadda? Gara duubaa tariitii na hordofi» jedhe.

Eedichi xelleephoo irra jiru sun, «Ergantichi isaan bira geyeera; ammoo deebi'ee dhufiisatti hin jiru» jedhee mootichatti hime.

¹⁹ Achiin duuba mootichi abbaa fardaa dhibii itti erge; innille gara isaanii dhagee, «Mootichi, «Nageyaafuu dhufaartanii?» isiniin jedha» jedheen. Yehuun deebisee, «Ati Nageya irraa maan qadda? Gara duubaa tariitii na hordofi» jedhe.

²⁰ Eedichi xelleephoo irra jiru sun, «Ergantichi isaan bira geyeera; ammoo deebi'ee dhufiisatti hin jiru; soressaan loltoota sanii akka nama maraatee garreettaa fardaan harkifamu waan oofuuf, oofiis isaa oofiisa Yehuu ilma Niimshii fakkaata» jedhee mootichatti hime.

²¹ Mootichi Yoraam, «Garreettaa kiyya ka fardaan harkifamu naaf qopheessa'a» jedhee ajaje; isaanille qopheessanee, innii fi mootichi Yihuda'aa Ahaaz qofi qofitti garreettaa ifii ka fardaan harkifamu irra tee'anee, gara Yehuu dhaqanee, fichaa Naabotii Yezire'elichaa keessatti isa dhaggane.

²² Yoraam yennaa Yehuu dhagge, «Yehuu! Nageyaafuu dhuttee?» jedhee gaafate.

Yehuun deebisee, «Waaqonfatiis waaqota dharaatii fi moruun haadha teeti Iizaabelii haga jirtu nageya maanti jiraa?» jedhe.

²³ Yoraam Ahaaziyaa waamee, «Ahaaziya'a! Tun maltumma'a!» jedhee garagalee dheete.

²⁴ Yehuun guubee ifii hunnaan harkisee daaya ceekuu Yoraamii lamaan wodhakka'atti gad lakkisee, onnee isaa woraane; Yoraamille garreettaa ifii ka fardaan harkifamu keessatti jige.

²⁵ Yehuun qarqaarticha ifii Biidkaariin, «Reeffa isaa fuudhiitii fichaa Naabotii Yizre'elichaa keessatti gati. Anii fi ati garreettaa fardaan harkifamu

yaabbannee, abbaa isaa Ahaab duubaan deemiisatti jirruun, Mootiin Waan Maraa marroo isaatiif raaga dubbate san qaabadhu.

²⁶ Mootiin Waan Maraa, «Ani kalee dhangala'iisa dhiiga Naabotiitii fi dhiiga ilmaan isaa dhaggeera; ani dhugumaan fichuma kana keessatti akka ati haluu baatu hin godha» jedha; tanaaf akka Jecha Mootii Waan Maraatitti, reeffa Yoraamii fuudhiitii fichaa Naabotii keessatti gati» jedhe.

²⁷ Mootichi Yihuda'aa Ahaaziyaan waan te'e kana duudii yennaa dhagge, garreettaa ifii ka fardaan harkifamu yaabbatee, karaa gara qachaa Bet-haaganii geessu baqate. Yehuun isa ari'ee, «Isalle ijjeesa'a» jedhee ajaje. Isaanille qachaa Yible'aamii biratti karaa tarba Guuriititti garreettaa isaa ka fardaan harkifamu keessatti isa madeessane. Inni ammoo gara qachaa Megidoo baqatee, achitti du'e.

²⁸ Tajaajiltooti isaa reeffa isaa garreettaa fardaan harkifamuun gara Yerusaalemii geessitee, qachaa Daawitii keessatti addee awwaala abbootii isaatitti isa awwaalte.

²⁹ Ilmi Ahaabii Yoraam mootii Israa'elii te'ee, woggaa kudhanii tok-keesso'ootitti, Ahaaziyaan mootii Yihuda'aa te'e.

Giittittiin Iizaabel Ijjeefante

³⁰ Yehuun gara Yizire'elii akka dhufe Iizaabel yennaa dhageette, ila ifii kuulattee, mataa ifii dhowattee foddaa manaatiin gad ilaalte.

³¹ Akkuma Yehuun karra ol seeneen, isiin qoonqoo ol qabatee, «Ee Ziimrii gootaa keeti ijjette, nageyaafuu dhuttee?» jette.

³² Yehuun gara fodda'aa ol ilaalee, «Nami naa golu eennuu? Eennu ree?» jedhe; yoos guneesoti lama yookiin sad gara isaa gad ilaalane.

³³ Yehuulle isaaniin, «Gad isii darba'a!» jedhe. Yennaa isaan gad isii darbane, dhiigi isi'ii gariin dalleya dhaka'aatii fi fardoo irratti faca'e; Yehuun fardoo isii irra oofee, fardoon irra sirbite.

³⁴ Inni gara manaa seenee nyaatee unne; achiin duuba inni, «Dubartittiin abaarantuun tun, intala mootichaa waan teeteef, fuudha'aatii awwaala'a» jedhe.

³⁵ Isaan yennaa isii awwaaliisaaf gad bayane ammoo, buqqii mataa isi'ii, miilaa fi ganaa harka isi'ii malee womaa hin dhaggine.

³⁶ Yennaa isaan waan kana Yehu'utti himane inni, «Kun jecha Mootii Waan Maraa ka karaa tajaajilaa ifii Eliyaasii Tishibeetichaatiin, «Lafa Yizre'elii keessatti sareen foon Iizaabelii hin nyaatti.

³⁷ Nami tokkole: tun Iizaabel jechuu akka hin dandeennetti, reeffi isi'ii akka kosi'ii lafa Yizre'elii keessatti hin gatama» jedhee dubbate» jedhe.

10

Sanyiin Ahaabii Ijjeefante

¹ Ahaab qachaa Samaariya'aa keessatti ilmaan torbaatama qabaayyu; maarre Yehuun xalayaa barreessee gara qachaa Samaariya'aa, bulchitoota Yizre'liitiif, jaarsole'ee fi worra ijoollee Ahaabii guddisu duudi'iif erge; xalayaan sun,

² «Ilmaan gootaa keessanii isin bira eega jiraatte, garreettaa fardaan harkifamu, fardoo, meya woraanaatii fi qachaa dalleya dhaka'aatiin marfame eega qabaattane, akkuma xalayaan kun isin geyeen,

³ ilmaan gootaa keessanii keessaa irra caalaa dansaa ka te'ee fi dandeettii ka qabu fila'aatii, addee abbaa isaatitti isa mootii godha'aatii, sanyii gootaa keessaniitiif lola'a!» ka jedhu.

⁴ Isaan ammoo guddoo sodaatanee, «Moototi lamaan ka dande'anee Yehuu ifi irraa hin dhooggatin, nuuti attam dandeennee isa ifi irraa dhoogganna ree?» jedhane.

⁵ Maarre itti gaafatamaan mana mootumma'aa, bulchaan qacha'aa, jaar-sole'ee fi worri ijoollee guddisu, «Nuuti tajaajiltoota teeti; waan ati nuun jettu mara hin goona; nuuti eennulle mootii hin goonu; waan irra caalaa dansaa sitti fakkaate atinuu godhi» jedhanee ergaa Yehu'utti ergane.

⁶ Achiin duuba Yehuun, «Isin yoo golii tiyya teetanee, naaf ajajatane, mataa ilmaan gootaa keessanii mura'aatii boru yennaa tana Yizre'elitti gara kiyya fida'aatii kowa'a» jedhee xalayaa lammeesso'oo isaanii barreesse.

Yennaa san ilmaan mootichaa torbaatam, sooreyyii qachaa Samaariya'aa worra isaan guddisu bira jirtiyyu.

⁷ Yennaa xalayaan isaan dhaqqabe, isaan ilmaan mootichaa torbaatama maraayyuu ijjeesane, mataa isaanii saaxaraa keessa keyanee, Yizre'elitti gara Yehu'uu ergane.

⁸ Namichi ergame sun yennaa achi geye, «Isaan mataa ilmaan mootichaa fidaneeran» jedhee Yehu'utti hime. Achiin duuba Yehuun, «Seensuma karra qacha'aatitti addee lamatti tuula'aatii, haga boru ganamaatitti achuma turuu ti» jedhee ajaje.

⁹ Boruuyyaa ganama Yehuun gara seensuma karra qachaa sanii gad bayee, kolbaa achi jirtu mara dura dhaabbatee, «Isin balleessaa hin qaddanu. Mooticha Yoraamitti mala dhowee ka ijjeese ana; worra kana mara ammoo ka ijjeese eennuu?

¹⁰ Mootiin Waan Maraa karaa raagicha ifii Eliyaasiitiin waan dubbate waan muummesseef, waan inni marroo sanyii Ahaabii dubbate keessaa takkaalle lafa akka hin buune beeka'a» jedhe.

¹¹ Maarre Yehuun worra sanyii Ahaabii keessaa hafee Yizre'el keessa jiru mara, soressitoota isaa mara, jaalota isaa maraa fi hayyoota isaa mara, nama tokkolle adoo hin hamburin fixe.

Firri Mooticha Ahaaziya'aa Ijjeefame

¹² Yehuun Yizre'elii ka'ee gara qachaa Samaariya'aa adoo deemuu, addee quttuma tissitootaa* yennaa geye,

¹³ firoota Ahaaziya'a mooticha Yihuda'aa dhaggee, «Isin eennuu?» jedhee gaafate.

Isaanille, «Nuuti firoota Ahaaziya'aa ti; maatii mootichaatii fi maatii haadha mootichaa dubbisiisaaf gara Yizre'elii dhagaarra» jedhane.

¹⁴ Yehuun, «Worra kana jiru'uunuu booji'a'a!» jedhee ajaje. Maarre isaan namoota afurtamii lama jiru'uunuu booji'anee boolla Bet-Eqedii biratti fixane; isaan keessaa nama tokkolle hin hamburre.

Worri Mana Mootummaa Ahaabii Keessatti Hafe Marti Ijjeefame

¹⁵ Yehuun achii ka'ee yennaa deeme, ilmi Rekaabii Yonaadaab isa dhaggiisaaf dhufuun, karaa irratti dhaggee, nageya fuudhee, «Akkuma gadhaan kiyya si'iif jiru gadhaan keeti naaf jiraa?» jedhee gaafate.

Yonaadaab deebisee, «Eeti'i» jedhe.

Yehuun deebisee, «Yoo akkas teete harka kiyya qabadhu» jedheen. Maarre inni harka isaa qabate; Yehuulle isa qarqaaree, garreettaa ifii ka fardaan harkifamu irra isa yaassisee,

* **10:12** Addee quttuma tissitootaa: Afaan Ibrootaatiin Bet-Eqed jedhama.

¹⁶ «Ana gula koyiitii hinaaffaa ani Mootii Waan Maraatiif qabu ilaal» jedhe. Maarre Yehuun garreettaa ifii ka fardaan harkifamu irra isa yaassisee deemane.

¹⁷ Yehuun qachaa Samaariya'aa yennaa geye, worra mana mootummaa Ahaabii keessatti hafe mara ijjeese; akkuma Mootiin Waan Maraa raagicha Eliyaasitti dubbate, inni isaan balleesse.

Worri Ba'aal Waaqonfatu Ijjeefame

¹⁸ Achiin duuba Yehuun kolbaa qachaa Samaariya'aa mara wolitti qabee, «Mootichi Ahaab waaqa Ba'aalii diqquma tajaajile; ani Yehuun ammoo isa caalaa hin tajaajila.

¹⁹ Tanaaf amma, raagota Ba'aalii mara, tajaajiltoota isaatii fi hayyoota isaa mara naaf waama'a. Ani ciincaa guddaa Ba'aaliif waan dhikeessuuf, nami tokkolle hin hafin! Nami hafe hin ijjeefama» jedhe. Yehuun ammoo tajaajiltoota Ba'aalii balleessiisaaf mala kana dhowe.

²⁰ Tanaan duuba Yehuun, «Ulfinna Ba'aaliitiif yaa'ii lassa'a!» jedhee ajaje. Maarre isaan lassane.

²¹ Yehuulle lafa Israa'elii duudi'itti ergaa dabarse; tajaajiltooti Ba'aalii marti tokkolle adoo hin hafin wolitti qabamane; isaan gara galma Ba'aalii seenanee, qacce'ee haga qacce'etitti guutane.

²² Achiin duuba Yehuun namicha mana woya'aa eeguun, «Tajaajiltoota Ba'aaliitiif woyaa gad baasiif» jedhe. Maarre inni woyaa isaaniif gad baase.

²³ Achiin duuba Yehuun, ilma Yonaadaabii Rekaab woliin gara galma Ba'aalii seenee, tajaajiltoota Ba'aaliitiin, «Tajaajiltoota Ba'aalii malee, tajaajiltooti Mootii Waan Maraa isin woliin as akka hin jirre hubadha'aatii ilaala'a» jedhe.

²⁴ Maarre Yehu'uu fi Yonaadaab ciinca'aa fi kennansa gubamu dhibiille Ba'aaliif dhikeessiisaaf gara keessaa seenane; yennaa san Yehuun namoota saddeettama galmaan alatti dhaabbachiisee, «Isin keessaa, namoota ani isinitti kennu keessaa nami tokkolle akka miliqu ka godhe, inni addee nama miliqe sanii hin ijjeefama!» jedhee isaan ifi eeggachiise.

²⁵ Yehuun akkuma kennansa gubamu dhikeessee hobbaaseen, eeddoota fi qondaaltota loltootaatiin, «Seena'aatii isaan ijjeesa'a! Nami tokkolle hin miliqin!» jedhee ajaje. Maarre isaan shallaaga'aan isaan ijjeesane; eeddootii fi qondaaltoti loltootaa reeffa isaanii mara alatti baasane gatane. Achiin duuba isaan gara kolloo galma Ba'aalii ta gara keessaa dhaqanee,

²⁶ soodduu woyyittii galma Ba'aalii keessaa gad baasane gubane.

²⁷ Maarre isaan soodduu woyyittii Ba'aalii caccassanee, galma Ba'aaliille diigane, haga adhaa mana faalowaa godhatane.

²⁸ Akka kanaan Yehuun waaqonfatiisa Ba'aalii Israa'el keessaa balleesse.

²⁹ Te'uu malee, inni cubbuu Yerobi'aamiin ilmi Nebaati, fakkii jabbi'ii ta worqii irraa hujante, ta Israa'elooti Bet'elii fi Daan keessatti akka waaqonfattu godhe san irraa hin deebine.

³⁰ Mootiin Waan Maraa, Yehu'uun, «Ati na duratti waan dansaa gootee, waan ani yaade mara, sanyii Ahaabii irratti waan gooteef, sanyiin teeti haga dhaloota arfeesso'ootitti Israa'el irratti mootii hin teeti» jedhe.

³¹ Yehuun ammoo seera Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii gadhaa tokkochaan hin eeganne; inni cubbuu Yerobi'aam akka Israa'elooti hujju godhe san irraa hin deebine.

Du'a Yehu'uu

³² Bara san Mootiin Waan Maraa lafa Israa'elii dhiphisuu jalqabe. Mootichi Sooriya'aa Hazaa'el lafa Israa'elii,

³³ laga Yordaanosii irraa gara baya adu'uu lafa Giil'aadii mara, Baashaan lafa gosi Gaadii, gosi Ruubeniitii fi gosi Minaase'ee keessa le'anuu, haga qachaa Aro'erii ka laga Aarnonii qabate.

³⁴ Wonni dhibiin ta Yehuun huje duudi'ii fi jannummaan isaa kitaaba dabarsii mootota Israa'elii keessatti barreeffanteerti.

³⁵ Yehuun du'ee, qachaa Samaariya'a keessatti awwaalame; ilmi isaa Yeho'ahaaz addee isaatitti mootii te'e.

³⁶ Yehuun Samaariyaa keessa tee'ee, woggaa diddamii saddeeti Israa'el irratti mootii te'e.

11

Mootittii Yihuda'aa Ataaliyaa

(2 Dab. 22:10–23:15)

¹ Ilmi isi'ii Ahaaziyaan akka du'e Ataaliyaan yennaa dhageette, kaatee maatii moototaa mara balleessite.

² Intalti Yoraamii mootichaa, obboleettiin Ahaaziya'aa Yoshebaan ammoo, ilma Ahaaziya'aa Yo'aas, ilmaan moototaa ta ijjeefamu'uuf jiranu keessaa dhossitee baattee, akka inni hin ijjeefanneef, ta isa guddittu woliin kolloo tage'ee takka keessatti Ataaliyaa jalaa dhossite.

³ Woggaa jaaf haga Ataaliyaan mootittii teete, inni Galma Mootii Waan Maraa keessatti ta isa guddittu woliin dhokatee hafe.

⁴ Woggaa torbeesso'ootitti ammoo hayyichi Yoyaadaan, ajajjoota dhibbaa ta eeddota mooti'iitii fi ta eeddota mana mootumma'aa maratti ergee, gara Galma Mootii Waan Maraa isaan waansise; achitti isaan woliin gondoorroo gondooratee, isaan kakachiiseen duuba, ilma mootichaa isaanitti mudhise.

⁵ Inni, isaan ajajee, «Wonni isin gootanu: isin worri guyyaa Sanbataa eeddo'oof baatanu, harka sad keessaa harki tokko mana mootumma'aa eeguu ti.

⁶ Harka sad keessaa harki tokko karra Suurii eeguu ti; harka sad keessaa harki tokko karra eeddotti tuun eedduun duuba jirtu eeguu ti.

⁷ Isin worri guyyaa Sanbataa badoo eeddoo teessanii fixatane, Galma Mootii Waan Maraa ka mootichi keessa jiru eega'a.

⁸ Tokko tokkoon keessan meya lolaa keessan qabadha'aatii, adaala mootichaa dhaabbadha'a; eennulle yoo isinitti dhikaate ijjeesa'a; gara mootichi deemu mara isa woliin deema'a» jedhe.

⁹ Ajajjooti dhibbaa akkuma hayyichi Yoyaadaan isaan ajaje godhane; tokko tokkoon isaaniille worra guyyaa Sanbataatiin eegiisaaf dhaquu fi worra eeddoo fixatee galu fudhatanee, gara hayyichaa dhufane.

¹⁰ Achiin duuba hayyichi Yoyaadaan, ebo'oo fi wontee mooticha Daawitii ka Galma Mootii Waan Maraa keessaa san ajajjoota dhibbaatiif kenne.

¹¹ Eeddotti tokko tokkoon isaanii meya lolaa qabatane, Galma Mootii Waan Maraa irraa gara kibbaatii haga kaabaa, addee ciinca'aatii fi Galma Mootii Waan Maraa marsanee, mooticha eegiisaaf dhaabbatane.

¹² Achiin duuba Yoyaadaan, ilma mootichaa gad baasee kallacha mataa isaa irra keyee, barreeffama Mootiin Waan Maraa marroo moototaatiif waadaa gale dhugaa bayu isaaf kenne, isa muudee mootii te'iisa isaa beessise. Kolbaan harka dhoottee qoonqoo ol qabatee, «Mootichi bara dheeraa le'uu ti!» jette.

¹³ Mootittiin Ataaliyaan hogaa eeddotaatii fi kolba'aa yennaa dhageette, gara Galma Mootii Waan Maraa addee kolbaan wolitti qabanteertu dhaxxe.

¹⁴ Akkuma baratame mootichi utubaa bira dhaabbatee, qondaaltoti loltootaatii fi worri tultullaa afuufu isa bira dhaabbateeruun dhaggite;

kolbaan lafa sanii marti gammaddee tultullaa afuufiisatti jirtiyyu. Achiin duuba Ataaliyaan gadditee woyaa ifii tarsaattee, «Tun maltumma'a! Tun maltumma'a!» jettee iyyite.

¹⁵ Hayyichi Yoyaadaan, Ataaliyaan Galma Mootii Waan Maraa keessatti akka ijjeefantu waan hin barbaanneef, ajajjoota dhibbaatiin, «Tarree teessan oddu'uu gad isii baasa'a; nama isii gula dhufu mara shallaaga'aan ijjeesa'a» jedhe.

¹⁶ Maarre isaan isii qabanee addee fardooleen gara mana mootumma'aa seentu geessanee, achitti isii ijjeesane.

Jijiirama Yoyaadaan Godhe

(2 Dab. 23:16-21)

¹⁷ Hayyichi Yoyaadaan akka isaan kolbaa Mootii Waan Maraa te'anu, Mootii Waan Maraatiin fi mooticha wodhakka'atti, mootichaa fi kolbaa wodhakkaalle'etti gondoorroo gondoore.

¹⁸ Achiin duuba kolbaan lafa Yihuda'aa marti gara galma Ba'aalii dhaxxee, galma san diiddee, addee ciinca'aatii fi fakkii waaqota dharaa caccassite; hayyicha Ba'aalii Maataanille addee ciinca'aa duratti ijeette.

Hayyichi Yoyaadaan Galma Mootii Waan Maraa akka eeganuuf eeddota itti godhe.

¹⁹ Inni ajajjoota dhibbaa, eeddota mootii'ii, eeddootaa fi kolbaa biyya sanii mara fuudhee, isaan waliin mooticha Galma Mootii Waan Maraa keessaa gad baasee, karaa karra eeddotaatiin gara mana mootumma'aa seensisane. Achiin duuba mootichille barcumaa mootumma'aa irra tee'e.

²⁰ Maarre Ataaliyaan mana mootumma'aa keessatti shallaaga'aan waan ijjeefanteef, kolbaan duudiin gammadde; qachaan sunille nageya dhaggate.

²¹ Yo'aas yennaa mootii te'e mucaa woggaa torba ti.

12

Mootii Yihuda'aa Yo'aas

(2 Dab. 24:1-16)

¹ Yehuun Israa'el irratti mootii te'ee woggaa torbeesso'ootitti, Yo'aas mootii Yihuda'aa te'ee, Yerusaleem keessa tee'ee woggaa afurtama bulche; haati isaa Ziibiyaan nama qachaa Bersheeba'aa ti.

² Bara hayyichi Yoyaadaan isa gorsaa ture maratti, Yo'aas Mootii Waan Maraa duratti waan sirrii te'e huje.

³ Te'uu malee, addeen waaqonfanna'aa waan hin diigaminiif, kolbaan addee waaqonfanna'aa sanitti ciincaa dhikeessiisaa fi hixaana aarsiisa hin lakkinne.

⁴ Yo'aas hayyootaan, «Beesee kennaa addaa ta namooti gara Galma Mootii Waan Maraa fidanu: beesee laakkossa namaa irraa dhaggante, beesee waada'aatii fi beesee nami fedha ifitiin kennu mara wolitti qaba'a.

⁵ Hayyooti tokko tokkonuu, beesee namoota beesee qabatanu irraa fuudhane, addee Galmi Waaqaa caccabee dhaggame deebisane ittiin haarsanuu ti» jedhe.

⁶ Hayyooti ammoo Yo'aas mootii te'ee, haga woggaa diddamii sadeesso'ootitti Galma Waaqaa hin haarsanne.

⁷ Tanaaf mootichi Yo'aas hayyicha Yoyaada'aa fi hayyoota dhibii waamee, «Galma Waaqaa ka caccabe maaf haarsuu dhaddane? Addee Galmi Waaqaa caccabe ittiin haarsa'aa kenna'a malee, hagamaa achi namoota beesee qabatanu irraa beesee hin fuudhina'a» jedhe.

⁸ Hayyooti beesee namoota irraa akka hin fuune, Galma Waaqaalle ifiif akka hin haareessine wolii galane.

⁹ Achiin duuba hayyichi Yoyaadaan saanduqa tokko fuudhee qadaaddaa isi'ii irratti urata baasee, karaa nami Galma Mootii Waan Maraa seenu gara middaatiin addee ciinca'aa bira keye. Hayyooti seensuma eeddu, beesee namooti gara Galma Mootii Waan fidane mara fuutee, saanduqa keessa keettiyyu.

¹⁰ Beeseen saanduqa keessa akka guutte yennaa dhagganee mara, barreessaan mootichaatii fi hayyichi guddaan dhufanee, beesee Galma Mootii Waan Maraa keessatti dhaggante san laakkowanee subbatti naqanee hidhaniyyu.

¹¹ Beesee san laakkowaneen duuba, namoota itti gaafatantoota hujii Galma Mootii Waan Maraatiitti kennan; beesee san Galma Mootii Waan Maraa ijaariisaaf, worra muka bocuuf, worra dhaka'aan mana ijaaruuf,

¹² worra dhakaa bocuuf, worra dhakaa muruuf kaffalan. Akkasuma Galma Mootii Waan Maraa ka caccabe deebisane haaressiisaaf mukaa fi dhakaa bocame bitiisaaf, Galma Mootii Waan Maraa deebisane haaressiisaaf waan barbaachisu maraaf kaffalaniyyu.

¹³ Te'uu malee, beesee Galma Mootii Waan Maraatiif kennante tana, gabataa meeti'ii, qaraphaa issaa ittiin dhaanfanu, qorii, tultullaa yookiin meya meetii irraa yookiin worqii irraa hujamu hujiisaaf hin balleessine.

¹⁴ Beeseen sun hojjatoota Galma Mootii Waan Maraa deebisane haaresanuuf kennante.

¹⁵ Namooti itti gaafatantoota huji'ii addatamumma'aan waan hujaneef, beeseen hojjatootaaf akka kaffalanu isaanitti kennante sun harka isaaniitti hin toowatanne.

¹⁶ Beeseen woreega yakka'aatii fi sababa cubbu'uutiif kennantu, ta hayyootaa waan teeteef gara Galma Mootii Waan Maraa hin fidanu.

¹⁷ Yennaa san mootichi Sooriya'aa Hazaa'el qachaa Gaatii lolee qabate; achiin duuba qachaa Yerusaalemii loliisaaf murteeffate.

¹⁸ Mootichi Yihuda'aa Yo'aas ammoo, meya abbootiin isaa ta durii moototi Yihuda'aa Yoshaafaax, Yehoraamii fi Ahaaziyaan Galma Mootii Waan Maraatiif adda baasane woyyoonsane mara, kennansa inni ifumaafuu adda baase, worqii Galma Mootii Waan Maraatiif fi mana mootumma'aa keessatti dhaggante mara mooticha Sooriya'aa Hazaa'eliif erge; achiin duuba Hazaa'el Yerusaalem irraa deebi'ee deeme.

¹⁹ Wonni dhibiin ta mootichi Yo'aas huje duudiin kitaaba dabarsii mootota Yihuda'aa keessatti barreeffanteerti.

²⁰ Qondaaltoti isaa isa irratti kaatee, karaa gara Siilaa gad bu'u irratti Betmiilo'otti isa ijeette.

²¹ Qondaaltoti isaa worri isa ijeese ilma Shime'aatii Yozaabaadii fi ilma Shomerii Yehozabaad. Yo'aas du'ee qachaa Daawitii keessatti abbootii ifii ta durii biratti awwaalame; ilmi isaa Amaasiyaan addee isaatitti mootii te'e.

13

Mootii Israa'elii Yeho'ahaaz

¹ Ilmi Ahaaziya'aa Yo'aas Yihudaa irratti mootii te'ee, woggaa diddamii sadeesso'ootitti, ilmi Yehu'uu Yeho'ahaaz Israa'el irratti mootii te'ee, Samaariyaa keessa tee'ee woggaa kudhanii torba bulche.

² Inni cubbuu ilmi Nebaati Yeroobi'aam akka Israa'elooti hujju godhe san hordofiisaan, Mootii Waan Maraa duratti hujii hantuu huje; inni hujii hantuu san irraa hin deebine.

³ Maarre Mootii Waan Maraa Israa'elootatti guddoo aaree, bara heddu'uuf harka mooticha Sooriya'aa Hazaa'eliitii fi ilma isaa Ben-Hadaadiititti dabarsee isaan kenne.

⁴ Achiin duuba Yeho'ahaaz gara Mootii Waan Maraa daadimate; Mootiin Waan Maraalle mootichi Sooriya'aa Israa'eloota akka cunqursiisatti* jiru dhaggee, daadimata Yeho'ahaazii dhage'e.

⁵ Tanaaf Mootiin Waan Maraa, nama Israa'eloota worra Sooriya'aa jalaa baasu ergeef; Israa'elootille harka worra Sooriya'aa jalaa bayanee akkuma durii nageyaan le'ane.

⁶ Te'uu malee, isaan cubbuu sanyii Yerobi'aamii ta inni akka Israa'elooti hujju godhe san irraa hin deebine; fakkiin waaqa dharaa ta «Asheeraa» jedhantu, qachaa Samaariya'aa keessaa adoo hin diigamin hatte.

⁷ Mootichi Sooriya'aa, loltoota Yeho'ahaazii balleessee, akka bukuu yenna midhaan dhowanu kaatuu waan godheef, abbootii fardaa shantama, garreettaa fardaan harkifamu kudhanii fi loltoota miilaa kuma kudhan malee tokkolle hin hanne.

⁸ Wonni dhibiin ta mootichi Yeho'ahaaz huje duudi'ii fi jannummaan isaa kitaaba dabarsii mootota Israa'elii keessatti barreeffanteerti.

⁹ Yeho'ahaaz du'ee, Samaariyaa keessatti awwaalame; ilmi isaa Yeho'aash addee isaatitti mootii te'e.

Yeho'aashii Mootii Israa'el

¹⁰ Yo'aas Yihudaa irratti mootii te'ee woggaa soddonii torbeesso'ootitti, ilmi Yeho'ahaazii Yeho'aash Samaariyaa keessa tee'ee, woggaa kudhanii jaa Israa'el bulche.

¹¹ Innille Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu hujee, cubbuu ilmi Nebaatii Yerobi'aam, akka Israa'elooti hujju godhe san mara irraa hin deebine.

¹² Wonni dhibiin ta mootichi Yeho'aash huje duudi'ii fi jannummaan isaa ta inni mootii Yihuda'aa Amaasiyaa lollele kitaaba dabarsii mootota Israa'elii keessatti barreeffanteerti.

¹³ Yeho'aash du'ee, qachaa Samaariya'aa keessatti mootota Israa'elii biratti awwaalame; ilmi isaa Yerobi'aam addee isaatitti mootii te'e.

Du'a Elsaai'i

¹⁴ Raagichi Elsaai'i dhibee isa ijeette saniin worwaanatuun, mootichi Israa'elii Yeho'aash isa ilaaliisaaf dhagee, «Abbaa kiyya! Abbaa kiyya! Ka Israa'eliiif garreettaa fardaatii fi abbootii fardaa teete» jedhee isaaf bowe.

¹⁵ Elsaai'i mootichaan, «Guube'ee† fi daaya fudhadhu» jedhe; Yeho'aashille guube'ee fi daaya fudhate.

¹⁶ Achiin duuba Elsaai'i, «Guubee harkatti qabadhu» jedhe. Yenna inni harkatti qabate, Elsaai'ille harka ifii harka mootichaa irra keye.

¹⁷ Achiin duuba Elsaai'i, «Foddaa ka gara aduun baatuu bani» jedhe; innille bane; Elsaai'i, «Daaya darbadhu!» jedhe; mootichi akkuma daaya darbateen, Elsaai'i, «Tun daaya Mootii Waan Maraa ka injifacha'aa ti; inni ka worri Sooriya'aa ittiin injifatamu; ati worra Sooriya'aa qachaa Afeqi'ii keessatti ijjumaa hin balleessita» jedhe.

¹⁸ Achiin duuba Elsaai'i mootichaan, «Daayota dhibii fuudhiitii lafa tutumadhu!» jedhe; innille daayota fuudhee yenna sad lafa tutumatee lakkise.

* **13:4** Cunqursiisatti; Yookiin hakuuciisatt. † **13:15** Guubee: Lafa tokko tokkotti Buubee jedhama.

¹⁹ Elsa'i isatti aaree, «Yennaa shan yookiin yennaa jaa adoo lafa tuttumatee jiraatte, worra Sooriya'aa injifattee ijumaa hin balleessitaayyu; amma ammoo yennaa sad qofa isaan hin injifatta» jedhe.

²⁰ Elsa'i du'ee awwaalame.

Ji'oota birra'aa mara gareen loltoota Mo'aabii lafa Israa'elii seenan.

²¹ Gaafa tokko Israa'elooti nama du'e awwaaliisatti adoo jiranuu, saamtota worra Mo'aabii dhagganee, reeffa namichaa addee awwaala Elsa'ii keessatti qolaansane. Reeffer namichaa akkuma lafee Elsa'ii tuqeen, namichi du'aa ka'ee dhaabbate.

Israa'elooti Qachoota Sooriya'aa Deebitee Qabate

²² Bara mootummaa Yeho'ahaazii mara mootichi Sooriya'aa Hazaa'el Israa'eloota mara cunqurse[‡].

²³ Mootiin Waan Maraa ammoo sababa gondoosoo Abrahaam, Yisihagii fi Yaaqoob waliin godheetiif, isaaniif nayee, mararee isaan qarqaare. Inni haga adhaa isaan hin balleessine yookiin fuula ifii duraa isaan hin fageessine.

²⁴ Mootichi Sooriya'aa Hazaa'el du'ee, ilmi isaa Ben-hadaad addee isaatitti mootii te'e.

²⁵ Achiin duuba ilmi Yeho'aazii Yeho'aash, qachoota Hazaa'el abbaa isaa Yeho'aaz lolee irraa fudhate, ilma Hazaa'elii Ben-hadaad irraa deebifate. Yeho'aash yennaa sad isa injifatee qachoota Israa'elii deebifate.

14

Mootii Yihuda'aa Amaasiyaa

(2 Dab. 25:1-24)

¹ Ilmi Yeho'ahaazii Yeho'aash Israa'el irratti mootii te'ee woggaa lammeesso'ootitti, ilmi Yo'aasii Amaasiyaan mootii Yihuda'aa te'e.

² Inni mootii yennaa te'e, nama woggaa diddamii shanii ti; inni Yerusaalem keessa tee'ee woggaa diddamii sagal bulche; maqaan haadha isaa Yo'adaan; isiin nama qachaa Yerusaalemii ti.

³ Amaasiyaan Mootii Waan Maraa duratti waan sirrii te'e huje; te'uu malee akka Daawitii abbaa ifii ka durii hin hunye; inni waan mara akka abbaa ifii Yo'aasii huje.

⁴ Te'uu malee, addeen waaqonfanna'aa waan hin diigaminiif, kolbaan addee waaqonfanna'aa sanitti ciincaa dhikeessiisaa fi hixaana aarsiisa hin lakkinne.

⁵ Amaasiyaan mootummaa ifii jabeeffateen duuba, qondaaltota abbaa isaa mooticha ijeette san ijeese.

⁶ Te'uu malee kitaaba seera Muuse'ee keessatti, Mootiin Waan Maraa, «Nami tokko tokkooyyuu cubbuu ifitiif ijeefamuu malee, abbootiin cubbuu ijoolle'eetiif, ijoolleen cubbuu abbootii'iitiif hin ijeefamin» jedhee akkuma ajaje, ilmaan worra abbaa isaa ijeese sanii hin ijeenne;

⁷ Amaasiyaan worra Edoonii kuma kudhan dhooqa sooddaa keessatti fixe; inni qachaa «Sela» jedhamu lolee qabatee, «Yaqtii'el» jedhee moggaase; qachaan sun haga adhaalle maquma kanaan waamama.

⁸ Achiin duuba Amaasiyaan akaakoo Yehu'uu ilma Yeho'aazii gara mooticha Israa'elii, Yeho'aashitti nama ergee, «Koottu me, wol ilaallaa!» jedhee lolaaf waammate.

⁹ Yeho'aash mootichi Israa'elii ammoo, Amaasiyaa mooticha Yihuda'aatiif deebisee, «Yennaa tokko qoreen Libaanos keessaa, muka hindheensaatiin,

[‡] 13:22 *Cunqurse*: Yookiin hacuuce.

«Intala teeti ilma kiyya heerumsiisi!» jette nama itti ergite; bineensi Libaanosii tokko ammoo karaa san dhufee, qoree san irra sirbe.

¹⁰ Ati dhugumaan worra Edoomii injifatteerta; gadhaa keeti keessatti ifi jajjeerta. Injifachaa dhaggatteen gammadii, mana keeti tee'i; maaniif ifiif jiddee Yihudaalle akka jidduuf tuttuxxee rakkinna ifi irratti fida» jedhe.

¹¹ Amaasiyaan ammoo isa dhage'uu waan dideef, mootichi Israa'elii Yeho'aash loltoota ifi fudhatee, mooticha Yihuda'aa Amaasiya'atti duulee, biyya Yihuda'aa keessatti qachaa Bet-Shemeshiititti isa lole.

¹² Loltooti Yihuda'aa loltoota Israa'eliitiin injifatamanee, marti isaanii gara mana ifi baqatane.

¹³ Mootiin Israa'elii Yeho'aash Bet-Shemeshitti, Amaasiyaa ilma Yo'aasii mootii Yihuda'aa akaakoo Ahaaziya'aa booji'e; achiin duuba inni gara Yerusaalemii dhagee, dalleya Yerusaalemii ka dhaka'aa karra Efreemiitii haga karra roga dalleyaatitti ka dheerinni isaa gara ciqilee dhibba afurii diige.

¹⁴ Inni worqi'ii fi meetii mara, meya Galma Mootii Waan Maraa keessa jiruu fi karra mana mootumma'aa keessa jirtu mara, namoota booji'amanelle qabatee, gara qachaa Samaariya'aa deebi'e.

¹⁵ Wonni dhibiin ta mootichi Yeho'aash huje duudiin, jannummaan isaa ta inni mootii Yihuda'aa Amaasiyaa lollele, kitaaba dabarsii mootota Israa'elii keessatti barreeffanteerti.

¹⁶ Yeho'aash du'ee, qachaa Samaariya'aa keessatti mootota Israa'elii biratti awwaalame; Yerobi'aam addee isaatitti mootii te'e.

Du'a Amaasiyaa Mooticha Yihuda'aa (2 Dab. 25:25-28)

¹⁷ Ilmi Yeho'ahaazii mootichi Israa'elii Yeho'aash du'een duuba, ilmi Yo'aasii mootichi Yihuda'aa Amaasiyaan woggaa kudhanii shan le'e.

¹⁸ Wonni dhibiin ta mootichi Amaasiyaan huje duudiin, kitaaba dabarsii mootota Yihuda'aa keessatti barreeffanteerti.

¹⁹ Amaasiyaa ijjeesiisaaf Yerusaalem keessatti mala itti waan dhowaneef, inni gara qachaa Laakiishiititti baqate; isaan ammoo namoota isa gula erganee achitti isa ijjeesisane.

²⁰ Reeffa isaa fardaan fidanee, qachaa Daawitii Yerusaalem keessatti abbootii isaa ta durii biratti awwaalane.

²¹ Achiin duuba kolbaan Yihuda'aa ilma Amaasiya'aa Azaariyaa ka woggaa isaa kudha jaa, addee Amaasiyaa abbaa isaatitti isa mootii godhane.

²² Amaasiyaan du'een duuba, Azaariyaan qachaa Elootii deebisee ijaaree, gara biyya Yihuda'aatitti deebise.

²³ Ilmi Yo'aasii Amaasiyaan mootii Yihuda'aa te'ee, woggaa kudhanii shanneessootitti, ilmi Yeho'aashii Yerobi'aam mootii Israa'elii te'ee, Samaariyaa keessa tee'ee woggaa afurtamii tokko bulche.

²⁴ Inni Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu hujee, cubbuu ilmi Nebaatii Yerobi'aam, akka Israa'elooti hujju godhe san mara irraa hin deebine.

²⁵ Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, karaa tajaajilaa ifi Yoonaasii ilma Amiitaayii raagicha Gaat-Hefertiin akkuma dubbatetti, Yerobi'aam meessaa Israa'elii, seensuma gara Haamaatii irraa kaasee, haga Abbaayaa Arabaayii* addee duriititti deebise.

* **14:25 Abbaayaa Arabaayii:** Abbaayaa sooddaalle hin jedhanti.

²⁶ Nami Israa'el keessaa marti, garbi yookiin nami bilisa te'e akka farriisatti jiranu, nami isaan qarqaarulle akka hin jirre Mootiin Waan Maraa dhagge.

²⁷ Mootiin Waan Maraa ammoo, «Maqaa Israa'elootaa biyya lafaa irraa ijjumaa hin balleessa» waan hin jedhiniif, inni karaa Yerobi'aamii ilma Yeho'aashiitiin isaan hambure.

²⁸ Wonni dhibiin ta Yerobi'aam huje duudiin, jannummaan isaa ta inni ittiin lole, Damaasqo'oo fi Haamaat ka kutaa biyya Yihuda'aa te'ane Israa'elootaaf attam akka deebise, kitaabaa dabarsii mootota Israa'elii keessatti barreeffanteerti.

²⁹ Yerobi'aam du'e; addee isaatitti ilmi isaa Zakaariyaas mootii te'e.

15

Mootii Yihuda'aa Azaariyaa (2 Dab. 26:1-23)

¹ Yerobi'aam Israa'el irratti mootii te'ee, woggaa diddamii torbeesso'ootitti, ilmi Amaasiya'aa Azaariyaan Yihudaa irratti mootii te'e.

² Inni yennaa mootii te'e, nama woggaa kudhanii jaa ti; inni Yerusaalem keessa tee'ee, woggaa shantamii lama bulche; maqaan haadha isaa Yekoliya'a; isiin nama qachaa Yerusaalemii ti.

³ Inni akkuma abbaa ifii Amaasiya'aa Mootii Waan Maraa duratti waan sirrii te'e huje.

⁴ Te'uu malee, addeen waaqonfanna'aa waan hin diigaminiif, kolbaan addee waaqonfanna'aa sanitti ciincaa dhikeessiisaa fi hixaana aarsiisa hin lakkinne.

⁵ Mootiin Waan Maraa dhukkuba goga'aa farrisiisaa mooticha Azaariya'atti buuse; inni haga guyyaa du'a ifii dhukkuba san irraa hin fayyine; qofii ifii mana adda te'e keessa le'e; ilmi mootichaa Yotaam mana mootumma'aa irratti itti gaafatamaa te'ee, kolbaa lafa sanii bulche.

⁶ Wonni dhibiin ta mootichi Azaariyaan huje duudiin, kitaaba dabarsii mootota Yihuda'aa keessatti barreeffanteerti.

⁷ Azaariyaan du'ee, qachaa Daawitii keessatti abbootii ifii ta durii biratti awwaalame; addee isaatitti ilmi isaa Yotaam mootii te'e.

Mooticha Israa'elii Zakaariyaas

⁸ Mootichi Azaariyaas Yihudaa irratti mootii te'ee, woggaa soddonii saddeetesso'ootitti, ilmi Yerobi'aamii Zakaariyaas mootii te'ee, Samaariyaa keessa tee'ee, ji'a jaa Israa'el bulche.

⁹ Inni akkuma abbootii ifii ta durii Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu huje. Inni cubbuu ilmi Nebaatii Yerobi'aam akka Israa'elooti hujju godhe san irraa hin deebine.

¹⁰ Ilmi Yaabeshii Shaalum, Zakaariyaas irratti mala dhowee, kolbaa duratti dhowee isa ijeesee, addee isaatitti mootii te'e.

¹¹ Wonni dhibiin ta mootichi Zakaariyaas huje duudiin kitaaba dabarsii mootota Israa'elii keessatti barreeffanteerti.

¹² Maarre jechi Mootiin Waan Maraa, «Sanyiin teeti haga dhaloota arfeesso'ootitti Israa'el irratti mootii hin teeti» jedhee Yehu'utti dubbatte muummowe.

Mootii Israa'elii Shaalum

¹³ Mootichi Azaariyaan* Yihudaa irratti mootii te'ee, woggaa soddomii sagaleesso'ootitti, ilmi Yaabeshii Shaalum mootii te'ee, Samaariyaa keessa tee'ee ji'a tokko bulche.

¹⁴ Ilmi Gaadii Menaahem, Tiizaa irraa Samaariyaa dhaqee, ilma Yaabeshii Shaalum ijjeesee, addee isaatitti mootii te'e.

¹⁵ Wonni dhibiin ta Shaalum huje duudiin, malli inni dhowelle, kitaaba dabarsii mootota Israa'elii keessatti barreeffanteerti.

¹⁶ Yennaa san worri qachaa Tiifsaa karra qacha'aa banuu waan dideef, Menaahem qachaa Tiirza'aatii ka'ee, qachaa Tiifsaa, namoota achi keessa jiranuu fi lafa adaala sanii mara lole; inni isaan injifatee, dubartoota ulfa qaddu duudiille gadhaa isi'ii baqasse.

Mooticha Israa'elii Menaahem

¹⁷ Mootichi Azaariyaan Yihudaa irratti mootii te'ee, woggaa soddomii sagaleesso'ootitti, ilmi Gaadii Menaahem mootii te'ee, Samaariyaa keessa tee'ee, woggaa kudhan Israa'el bulche.

¹⁸ Inni Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu huje; inni bara mootummaa ifii cubbuu ilmi Nebaatii Yerobi'aam akka Israa'elooti hujju godhe san irraa hin deebine.

¹⁹ Achiin duuba mootichi Asoorii Tiiglaat-Phileeser ka, «Phul» jedhamu biyya Israa'elii lole; Menaahem qarqaarsa isa irraa dhaggatiisaa fi mootummaa ifii jabeeffatiisaaf, meetii kiiloogiraama kuma soddomii afur† Tiiglaat-Phileeseriif kenne.

²⁰ Menaahem meetii mooticha Asooriitiif kennu san, dureeyyii Israa'elii tokko tokkoo isaanii irraa meetii gara giraama dhibba shanii‡ guure. Maarre Tiiglaat-Phileeser biyya san keessa turiisa lakkisee, gara biyya ifii deebi'ee deeme.

²¹ Wonni dhibiin ta Menaahem huje kitaaba dabarsii mootota Israa'elii keessatti barreeffanteerti.

²² Menaahem du'e; addee isaatitti ilmi isaa Pheqaayaan mootii te'e.

Mooticha Israa'elii Pheqaayaa

²³ Azaariyaan mootii Yihuda'aa te'ee, woggaa shantameesso'ootti, ilmi Menaahemii Pheqaayaan mootii te'ee, qachaa Samaariya'aa keessa tee'ee, woggaa lama Israa'el bulche.

²⁴ Inni Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu huje. Inni cubbuu ilmi Nebaatii Yerobi'aam akka Israa'elooti hujju godhe san irraa hin deebine.

²⁵ Ajajjoota loltoota isaa keessaa tokko, ilmi Remaaliya'aa Pheqaan mala isa irratti dhowee, namoota biyya Giil'aadii shantama woliin, mana mootummaa'aa ka dalleya dhaka'aatiin marfame, qachaa Samaariya'aa keessatti, Pheqaayaa, Argoobii fi Ariyee ijjeesee; addee Pheqaaya'aatitti mootii te'e.

²⁶ Wonni dhibiin ta Pheqaayaan huje duudiin kitaaba dabarsii mootota Israa'elii keessatti barreeffanteerti.

Mooticha Israa'elii Pheqaa

²⁷ Azaariyaan mootii Yihuda'aa te'ee woggaa shantamii lammeesso'ootitti, ilmi Remaaliya'aa Pheqaan mootii te'ee qachaa Samaariya'aa keessa tee'ee, woggaa diddama Israa'el bulche.

²⁸ Inni Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu hujee, cubbuu ilmi Nebaatii Yerobi'aamii, akka Israa'elooti hujju godhe san mara irraa hin deebine.

* **15:13** Mootichi Azaariyaan: Afaan Ibrootaatiin Uziyaan jedha; inni namuma tokko. † **15:19** Kiiloogiraamii kuma soddomii afur: Afaan Ibrootaatiin Taalentii kuma jedha. ‡ **15:20** Giraama dhibba shanii: Afaan Ibrootaatiin sheeqelii shantama jedha.

²⁹ Bara Pheqaan Israa'el bulchaa ture, mootiin Asoorii Tiiglaat-Phileeser dhufee qachoota liyonii, Abeel Bet-Ma'aka'aa, Yaano'aa, Qedeeshii, Hazoorii, lafa Giil'aadii, Galiila'aatii fi Niftaalemii mara fudhatee, namoota booji'e gara Asoorii geesse.

³⁰ Achiin duuba ilmi Uziya'aa Yotaam mootii Yihuda'aa te'ee, woggaa diddameesso'ootitti, ilmi Ela'aa Hose'aan, ilma Remaaliya'aa Pheqaa irratti mala dhowee isa ijjeesee, addee isaatitti mootii te'e.

³¹ Wonni dhibiin ta Pheqaan huje duudiin, kitaaba dabarsii mootota Israa'elii keessatti barreeffanteerti.

Mooticha Yihuda'aa Yotaam (2 Dab. 27:1-9)

³² Ilmi Remaaliya'aa Pheqaan mootii Israa'elii te'ee, woggaa lammeesso'ootitti, ilmi Azaariya'aa Yotaam mootii Yihudaa te'e.

³³ Inni yennaa mootii te'e, nama woggaa diddamii shanii ti; inni Yerusaalem keessa tee'ee, woggaa kudhanii jaa bulche; maqaan haadha isaa Yerusha'a; isiin intala Zaadoqii ti.

³⁴ Yotaam akkuma abbaa ifii Azaariya'aa Mootii Waan Maraa duratti waan sirrii te'e huje.

³⁵ Te'uu malee, addeen waaqonfanna'aa waan hin diigaminiif, kolbaan addee waaqonfanna'aa sanitti ciincaa dhikeessiisaa fi hixaana aarsiisa hin lakkinne. Yotaam karra Galma Mootii Waan Maraa ta gara olii ijaare.

³⁶ Wonni dhibiin ta Yotaam huje duudiin, kitaaba dabarsii mootota Yihuda'aa keessatti barreeffanteerti.

³⁷ Mootiin Waan Maraa bara san biyya Yihuda'aa irratti, mootii Sooriya'aa Resiinii fi ilma Remaaliya'aa Pheqaan kaasee itti erguu jalqabe.

³⁸ Yotaam du'ee qachaa Daawitii abbaa ifii ka durii keessatti abbootii ifii ta durii biratti awwaalame; addee isaatitti ilmi isaa Ahaaz mootii te'e.

16

Mootii Yihuda'aa Ahaaz (2 Dab. 28:1-27)

¹ Ilmi Remaaliya'aa Pheqaan Israa'el irratti mootii te'ee, woggaa kudhanii torbeesso'ootitti, ilmi Yotaamii Ahaaz mootii Yihuda'aa te'e.

² Ahaaz yennaa mootii te'e nama woggaa diddamaa ti; inni Yerusaalem keessa tee'ee, woggaa kudhanii jaa bulche. Inni akka Daawitii abbaa ifii ka durii Mootii Waan Maraa Waaqa ifii duratti waan sirrii te'e hin hunye.

³ Inni akkuma moototi Israa'elii hujane huje. Inni akkuma kolbaa biyya adda addaa ta waan battii hujjee, ta Mootiin Waan Maraa kolbaa Israa'elii duraa ari'ee baase sanii hujjee, ilma ifiituu ibiddaan gubee* ciincaa dhi-keesse.

⁴ Ahaaz addee waaqonfanna'aa irratti, qaccee koobotaa irratti, muka banqaaqaa mara jalatti ciincaa dhikeessee, hixaanalle aarse.

⁵ Mootichi Sooriya'aa Resiinii fi mootichi Israa'elii ilmi Remaaliya'aa Pheqaan Yerusaalem loliisaaf duulanee, qachaa san woliin Ahaaz marsane; ammoo isa injifatuu hin dandeenne.

⁶ Yennaa san mootichi Sooriya'aa Resiin, Yihudoota ari'ee baasee qachaa Elootii Sooriya'aaf deebise. Namooti Edoomii ka Elootitti galane haga adhaalle achi keessa le'an.

* **16:3** *Ibiddaan gubee: Afaan Ibrootaatiin ibidda keessa qaxxaamursee jedha.*

⁷ Mootichi Ahaaz, gara mooticha Asoorii Tiiglaat-Phileeseritti namoota ergee, «Ani tajaajilaa keeti; ilma keetille'e. Koyiitii worra na loliisatti jiranu harka mooticha Sooriya'aatii fi Israa'elii jalaa na baasi» jedhe.

⁸ Ahaaz meeti'ii fi worqii Galma Mootii Waan Maraa keessaatii fi ta mana mootumma'aa keessaa fuudhee mooticha Asooriitiif erge.

⁹ Mootichi Asoorii isaaf dhage'ee, Damaasqo'otti duulee qachaa san qabate. Inni mooticha Resiin ijjeesee, namoota qachaa sanii booji'ee gara addee, «Qiir» jedhantuu geesse.

¹⁰ Achiin duuba mootichi Ahaaz, mootii Asoorii Tiiglaat-Phileeser dhaggiisaaf gara Damaasqo'oo dhage; inni addee ciinca'aa takka Damaasqoo keessatti dhaggee, fakkii addee ciinca'aa san harkaan hujee, karoora ijaarsa isi'ii mara woliin, hayyicha Uriiya'atti erge.

¹¹ Maarre adoo mootichi Ahaaz hin deebi'in, hayyichi Uriiyaan akka fakkii mootichi Ahaaz Damaasqoo irraa erge saniititti addee ciinca'aa ijaaree fixe.

¹² Mootichi Ahaaz Damaasqoo irraa deebi'ee addee ciinca'aa yennaa dhagge, achi irratti ciincaa dhikeessiisaaf dhage.

¹³ Inni addee ciinca'aa san irratti kennansa gubamuu fi kennansa midhaanii dhikeessee, kennansa daadhii woyni'ii irratti dhangalaasee, kennansa dhiigaa ka tokkumma'aa irratti fiffixe.

¹⁴ Ahaaz addee ciinca'aa ta sageettuu irraa hujante, ta addee ciinca'aa haareyaa fi Galma Mootii Waan Maraa wodhakkaa, Mootii Waan Maraa dura jirtu fuudhee, addee ciinca'aa haareya irraa gara kaabaatitti keye.

¹⁵ Achiin duuba mootichi Ahaaz, «Kennansa gubamu ka ganamaa, kennansa midhaanii ka galgalaa, kennansa gubamuu fi kennansa midhaanii ka mootichi fidu, kennansa gubamu, kennansa midhaaniitii fi kennansa daadhii woyni'ii ka kolbaan lafa sanii marti fiddu, addee ciinca'aa guddittii haareya irratti ciinCESSi; dhiiga horii ciinca'aaf dhikaatuu, dhiiga ciincaa dhibi'ii maralle addee ciinca'aa san irratti fiffixi. Addee ciinca'aa ta sageettuu irraa hujante ammoo, akka qajeelcha ittiin gaafadhu naa lakkisi» jedhee Uriiyaa hayyicha ajaje.

¹⁶ Hayyichi Uriiyaan waan mootichi Ahaaz isa ajaje mara godhe.

¹⁷ Mootichi Ahaaz waan meya irra keyanu ka korboo qabu san irraa waan baxxittii roga afurii buqqisee, gabataa itti dhiqatanulle irraa fuudhe; Waabaa† bisaanii ka fakkii korommii sageettuu irraa hujamane irra jiru san irraa gad buusee, hundee dhaka'aa irraa keye.

¹⁸ Ahaaz mooticha Asoorii gammachiisiisaaf jedhee, waan akka gaaddisaa ka mootichi guyyaa Sanbataa akka jala tee'uuf, Galma Mootiin Waan Maraa keessatti hujame fuudhee baasee, karra seensuma mootichi gara Galma Mootii Waan Maraa ittiin seenulle cufe.

¹⁹ Wonni dhibiin ta mootichi Ahaaz huje duudiin, kitaaba dabarsii mootota Yihuda'aa keessatti barreeffanteerti.

²⁰ Ahaaz du'ee qachaa Daawitii keessatti abbootii ifii ta durii biratti awwaalame; addee isaatitti ilmi isaa Hisqiyaas mootii te'e.

17

Mootii Israa'elii Hose'a

¹ Ahaaz mootii Yihuda'aa te'ee woggaa kudhanii lammeesso'ootitti, ilmi Ele'aa Hose'a mootii te'ee Samaariyaa keessa tee'ee, woggaa sagal Israa'el bulche.

† 16:17 Waabaa: Lafa tokko tokkotti *Ibidoo* jedhama.

² Inni Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu huje; te'uu malee haga moototi Israa'elii ta isaan duraa hujane hin hunye.

³ Mootiin Asoorii Shalmaaneser Hose'a loliisaaf dhufe; Hose'alle Shalmaaneseritti harka kennatee, isa gabbare.

⁴ Hose'a mootii Gibxi'ii ka «Soo» jedhamutti, namoota waan ergatee fi akkuma durii wogguma wogga'aan, mootii Asooriitiif gibira waan hin gabbariniif, mootiin Asoorii akka Hose'a isa didate hubate. Tanaaf Shalmaaneser isa qabee mana hidha'aatitti galche.

Jinnana Samaariya'aa

⁵ Achiin duuba Shalmaaneser lafa Israa'elii mara lolee, woggaa sad qachaa Samaariya'aa marse.

⁶ Hose'a mootii te'ee woggaa sagaleesso'ootitti, mootiin Asoorii qachaa Samaariya'aa qabate. Inni Israa'eloota gara Asoorii godaansisee Haalaa keessa, Gozaan keessatti laga Haaborii biraa fi qachoota Miidiyaanii keessa qubachiise.

⁷ Kolbaan Israa'elii Mootii Waan Maraa Waaqa ifii ka biyya Gibxi'ii keessaa, harka mootii Gibxi'ii jalaa isaan baase waan yakkiteef, tun duudiin teete; isaan waaqota dhibiille waaqonfatane,

⁸ aadaa kolbaa biyya adda addaa, ta Mootiin Waan Maraa Israa'eloota duraa ari'ee baase hordofanee, aadaa moototi Israa'elii hamooleen hujjelle hordofane.

⁹ Israa'elooti dhossa'aan Mootii Waan Maraa Waaqa ifii duratti waan sirrii hin te'in hujje. Isaan olloota didiqqaa ka xelleephoo fichaa eegatanu qabuutii kaasanee, haga qachaa guddaa dalleya dhaka'aa qabuutitti qachoota ifii mara keessatti, addee waaqonfanna'aa ijaarratane.

¹⁰ Isaan koobota maraa fi muka banqaaqaa mara jalatti, soodduu woyyitti'ii fi fakkii waaqa dharaa ta, «Asheeraa» jedhantuu dhaabane.

¹¹ Isaan achitti akkuma kolbaan biyya adda addaa, ta Mootiin Waan Maraa Israa'eloota duraa ari'ee baase goote, addee waaqonfanna'aa mara irratti hixaana aarsane; isaan waan hantuu hujanee Mootii Waan Maraa aarsane.

¹² Mootiin Waan Maraa, «Waaqota dharaa hin waaqonfatina'a» jedhulle, isaan waaqota dharaa waaqonfatane.

¹³ Mootiin Waan Maraa karaa raagotaatii fi worra mudhii dhagguutiin kolbaa Israa'eliitii fi Yihuda'aa, «Karaa hamaa keessan irraa deebi'a'a; ajajaa fi seerata kiyya ka ani abbootii teessan ta duriitiif kennee, karaa tajaajiltoota tiyya raagotaatiin isaanitti erge san eegadha'a» jedhee ifi eeggachiiseeraayyu.

¹⁴ Isaan ammoo, akkuma abbootii ifii ta durii mataa jabaatanee, Mootii Waan Maraa Waaqa ifii addatiisa didane malee, isa hin dhageenne.

¹⁵ Isaan seerata isaa, gondoaroo isaa ta inni abbootii isaanii ta durii woliin gondooree fi waan inni isaan ifi eeggachiise tuffatane; waaqota dharaa ka gatii hin qanne hordofanee, isaanille ka gatii hin qanne te'ane; kolbaa biyya adda addaa ta adaala isaanii hordofanee, Mootiin Waan Maraa, «Akka isaan godhanu hin godhina'a» jedhee isaan ajajulle, isaan waan Mootiin Waan Maraa isaan dhoogge san godhane.

¹⁶ Isaan ajaja Mootii Waan Maraa Ka Waaqa ifii mara didanee, fakkii jabbi'ii ta worqii irraa hujante lamaa fi fakkii waaqa dharaa ta, «Asheeraa» jedhantuu hujatane; urjoota ol-gubba'aa mara waaqonfatane, waaqa Ba'aaliille tajaajilane.

¹⁷ Ilmaan ifiitii fi ijoollee ifii ta durraa ibiddaan gubanee ciincaa dhikeessanee, moruu morsiifatane; Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu hujiisaaf dabarsane ifi kennanee, Mootii Waan Maraa aarsane.

¹⁸ Tanaaf Mootiin Waan Maraa Israa'elootatti guddoo aaree, isaan ifi duraa fageessee, gosa Yihuda'aa qofa lakkise.

¹⁹ Kolbaan Yihuda'aalle aadaa kolbaa Israa'elii hordotte malee, ajaja Mootii Waan Maraa Ka Waaqa ifi hin eeganne.

²⁰ Tanaaf Mootiin Waan Maraa sanyii Israa'elii mara jibbee, haga isaan isa duraa badanutti, harka worra isaan saamuutitti dabarsee kennee isaan adabe.

²¹ Mootiin Waan Maraa Israa'eloota maatii Daawitii irraa gargar yennaa baase, Israa'elooti ilma Nebaatii Yerobi'aam mootii godhatane. Yerobi'aam Israa'elooti akka Mootii Waan Maraa hin hordofanne dokonkorsee, cubbuu guddoo akka isaan hujanu godhe.

²²⁻²³ Mootiin Waan Maraa akkuma karaa tajaajiltoota ifii raagotaatiin dubbate haga isaan ifi duraa fageessetti, Kolbaan Israa'elii cubbuu Yerobi'aam huje san ittuma hujane malee irraa hin deebine. Maarre kolbaan Israa'elii lafa ifii irraa gara Asoorii booji'antee, haga adhaa achi jirti.

Worri Ormaa Israa'el Keessa Qubate

²⁴ Mootiin Asoorii qachaa Baabilonii, qachaa Kutaa, qachaa Awaa, qachaa Haamaatii fi qachaa Sefarwaayim keessaa kolbaa fidee, addee kolbaa Israa'elii buusiisaaf, qachoota Samaariya'aa keessa qubachiise. Isaan Samaariyaa fudhatanee qachoota isi'ii keessa le'ane.

²⁵ Isaan yennaa matooma achi qubatane, Mootii Waan Maraa hin waaqonfanne. Tanaaf Mootiin Waan Maraa neenqa itti erge; neenqi sun isaan keessaa garii ijjeese.

²⁶ «Kolbaan ati qachaa Samaariya'aa keessa qussiitte, seera waaqa lafa sanii hin beenne; tanaaf inni neenqa isaan ijjeesu itti erge» jedhanee mootii Asooriititti himane.

²⁷ Achiin duuba mootiin Asoorii, «Hayyoota Samaariyaa keessaa boojitane keessaa tokko achii deebisa'aatii, seera waaqa lafa sanii kolbaa barsiisuu ti» jedhee ajaje.

²⁸ Tanaaf hayyoota isaan Samaariyaa keessaa booji'ane keessaa tokko dhufee Bet'el keessa le'ee, kolbaan attam akka Mootii Waan Maraa waaqonfattu barsiise.

²⁹ Gosi biyya adda addaa, qachoota keessa qubatane keessatti waaqota ifii hujatanee, galma addee waaqonfanna'aa jiru, ka worri Samaariya'aa ijaare keessa keyane.

³⁰ Namooti Baabilonii waaqa dharaa ka «Suukoot-Benot» jedhamu, namooti Kutaa waaqa dharaa ka «Nergaal» jedhamu, namooti Haamaatii waaqa dharaa ka «Ashiimaa» jedhamu hujatane.

³¹ Namooti Awaa waaqota dharaa ka «Niibhaazii fi Tartak» jedhamanu hujatane; namooti Sefarwaayimii waaqota dharaa ka «Adraamelekii fi Anaamelek» jedhamanuuf ijoollee ifii gubanee ciincaa dhikeessane.

³² Isaan Mootii Waan Maraa waaqonfatane; te'uu malee hayyoota ciincaa addee waaqonfanna'aa ta waaqota dharaa tajaajiltulle filatane.

³³ Maarre isaan Mootii Waan Maraa waaqonfatane; ammoo akkuma aadaa gosa biyya adda addaa ta hunnaan keessaa isaan fidanee, waaqota ifille waaqonfatane.

³⁴ Isaan haga adhalle aadaa durii ittuma jiran. Isaan Mootii Waan Maraa hin waaqonfanne yookiin seerata, sirna, seeraa fi ajaja inni sanyii Yaaqoobii ta «Israa'el» jedhee moggaaseef kennelle hin eeganne.

³⁵ Mootiin Waan Maraa yennaa Israa'eloota woliin gondoороo gondoore, «Waaqota dhibii hin waaqonfatina'a; isaaniif hin sagadina'a; isaan hin tajaajilina'a yookiin ciincaa isaaniif hin dhikeessina'a.

³⁶ Ammoo ana Mootii Waan Maraa ka hunna guddo'oo fi irree jaddu'uun biyya Gibxi'ii keessaa isin baase waaqonfadha'a; naaf sagada'a; ciincaalle naaf dhikeessa'a.

³⁷ Seerata, sirna, seeraa fi ajaja ani barreessee isiniif kenne, yennaa mara eegadha'a; waaqota dhibii hin hordofina'a;

³⁸ gondoороo ani isin woliin gondoore hin dedhina'a; waaqota dhibii hin waaqonfatina'a;

³⁹ Ana Mootii Waan Maraa Waaqa keessan waaqonfadha'a; harka diinota keessan maraa jalaa ka isin baasu ana» jedheera.

⁴⁰ Te'uu malee isaan aadaa ifii ta durii san ittuma hujane malee, isa hin dhageenne.

⁴¹ Maarre gosi biyya adda addaa tun Mootii Waan Maraa waaqonfatte; waaqota dharaa ka ifille tajaajilane; haga adhaalle ijoolleen isaaniitii fi ijoolleen ijoollee isaanii akkuma abbootii isaanii ta durii goote godhane.

18

Mootii Yihuda'aa Hisqiyaas

(2 Dab. 29:1-2; 31:1)

¹ Ilmi Ela'aa Hose'a Israa'el irratti mootii te'ee, woggaa sadeesso'ootitti, ilmi Ahaazii Hisqiyaas mootii Yihuda'aa te'e.

² Hisqiyaas mootii yennaa te'e, nama woggaa diddamii shanii ti; inni Yerusaalem keessa tee'ee woggaa diddamii sagal bulche; maqaan haadha isaa Abiiya'a; isiin intala Zakaariyaasii ti.

³ Inni akkuma abbaan isaa Daawiti huje, Mootii Waan Maraa duratti waan sirrii te'e huje.

⁴ Inni addee waaqonfanna'aa diigee, soodduu woyyittii caccassee, fakkii waaqa dharaa ta «Asheeraa» jedhantuu muree jisse; Israa'elooti haga bara saniititti fakkii bofaa ta Muuseen sageettuu irraa huje saniif hixaana waan aarsaneef, Hisqiyaas fakkii bofaa ta «Nehushtaan» jedhantu sanille caccasse.

⁵ Hisqiyaas Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'eliititti addate; mootota Yihuda'aa keessaa, isaan dura yookiin isaan duuballe ta akka isaa hin jirtu.

⁶ Inni Mootii Waan Maraatiif addatamaa waan te'eef, isa hordofiisa irraa hin deebinne; ajaja Mootiin Waan Maraa Muuse'eef kennelle eegate.

⁷ Mootiin Waan Maraa isa woliin waan jiruuf, wonni huju marti isaaf teete; inni mootii Asoorii irratti finqila kaasee, isa tajaajiluu lakkise.

⁸ Hisqiyaas haga Gaaza'aatii fi lafa adaala isi'ititti, olloota didiqqaa ka xelleephoo fichaa eegatanu qabuutii kaasee, haga qachaa guddaa dalleya dhaka'aa qabuutitti Filisxeemota injifate.

⁹ Hisqiyaas mootii te'ee woggaa arfeesso'ootitti, ilmi Ela'aa Hose'a mootii Israa'elii te'ee woggaa torbeesso'ootitti, mootiin Asoorii Shalmaaneser qachaa Samaariya'aatitti duulee marsee,

¹⁰ dhuma woggaa sadeesso'ootitti qabate; Hisqiyaas mootii te'ee woggaa jayeesso'ootitti, Hose'a mootii Israa'elii te'ee woggaa Sagaleesso'ootitti, Samaariyaan qabante.

¹¹ Mootiin Asoorii Israa'eloota booji'ee gara Asoorii geessee Haalaa keessa, Gozaan keessatti laga Haaborii biraa fi qachoota Miidiyaanii keessa qubachiise.

¹² Israa'elooti Mootii Waan Maraa Waaqa ifitiif ajajamiisa didanee, gondoosoo inni isaan woliin gondooree fi seera tajaajilaan Mootii Waan Maraa Muuseen isaan ajaje mara waan diiganeef tun teete; isaan ajaja hin dhageenne yookiin hin ajajanne.

Mootii Asoorii Senaaheriib

¹³ Hisqiyaasii mootii te'ee woggaa kudhanii arfeesso'ootitti, mootiin Asoorii Senaaheriib biyya Yihuda'aatitti duulee, qachoota Yihuda'aa ka dalleya dhaka'aa qabu mara lolee qabate.

¹⁴ Mootiin Yihuda'aa Hisqiyaas gara mootii Asoorii ka qachaa Laakiishii keessa jirutti namoota ergee, «Ani yakkaa hujeera; waan ati na gaafattu mara ani si'iif hin kaffala, maganne'e lola ana irraa dhaabi» jedhe. Mootiin Asoorii meetii kiiloogiraamii kuma kudhanii* fi worqii kiiloogiraamii kuma tokko† gaafate.

¹⁵ Maarre Hisqiyaas meetii Galma Mootii Waan Maraatii fi mana mootumma'aa keessatti dhaggantu mara isaaf kenne.

¹⁶ Yennaa san Hisqiyaas worqii balbalaa fi mikikkila Galma Mootii Waan Maraatiitti gonfeeru san, mootii Asooriitiif kenne.

¹⁷ Mootiin Asoorii ajajaa ajajjoota loltootaa, ajajaa hojjatoota mana mootumma'aatii fi ajajaa loltootaa, loltoota hedduu woliin qachaa Laakiishii irraa, gara Hisqiyaasii mooticha Yerusaalem keessa jirutti erge. Isaan Yerusaalem yennaa dhufane, bowii bisaan keessa yaa'u ka baleessa gatiitti'ii, ka karaa gara diida namicha woyaa dhiquu geessu bira dhaabbatane.

¹⁸ Isaan yennaa Hisqiyaas mootichatti erganee isa waansisane, itti gaafatamaan mana mootumma'aa ilmi Hilqiiya'aa Eliyaaqim, barreessaan mana mootumma'aa Shebnaanii fi barreessaan dabarsi'ii ilmi Asaafii Yo'aan gara isaanii gad bayane.

¹⁹ Ajajaan loltootaa Hisqiyaasitti isaan ergee, «Mootiin Asoorii guddaan: Ati maan addattee bidhaa malee teetta?

²⁰ Ati «Mala lolaatii fi hunna loltootaa qaba» jetta; ammoo afaan qofa. Ati eennu addattee na irratti kaate?

²¹ Biyya Gibxi'ii ta akka shonbooqqoo caccaddee ta yennaa qabatanu harka namaa woraantee madeessituu addattaa? Mootiin Gibxi'ii nama isatti addatu maraaf akkasuma» jedhe.

²² Itti dabalee, «Isin, «Nuuti Mootii Waan Maraa Waaqa keennatti addanna» anaan yoo jettane, Hisqiyaas, worra Yihuda'aatii fi Yerusaalemitiin, «Yerusaalem keessatti addee ciinca'aa tana duratti waaqonfatiisa qaddan» yennaa jedhee, addee waaqonfanna'aatii fi addeen ciinca'aa ta inni balleesse, ta Mootii Waan Maraatii motii ree?

²³ Amma koyiitii gootaa kiyya mootii Asoorii woliin wol morki; namoota farda irra tee'anee loluu dande'anu abbootii fardaa yoo qabaatte, ani fardoo kuma lama si'iif hin kenna.

²⁴ Ati garreettaa fardaan harkifamuu fi abbootii fardaa ka worra Gibxi'iititti addattulle, tajaajiltoota gootaa kiyyaa keessaa ka guddoo diqqa'aatuu ifi irraa dhooggatuu hin dandeettu.

* **18:14** Meetii kiiloogiraamii kuma kudhanii: Afaan Ibrootaatiin meetii Taalentii dhibba sadii Jedha.

† **18:14** Worqii kiiloogiraamii kuma tokko: Afaan Ibrootaatiin worqii Taalentii soddoma Jedha.

²⁵ Ani biyya tana fedha Mootii Waan Maraatiin ala lolee balleessiisaaf dhufe seetaa? Mootii Waan Maraattittuu, «Biyya tanatti duuliitii balleessi» anaan jedhe» jedhe.

²⁶ Achiin duuba ilmi Hilqiiya'aa Eliyaaqim, Shebnaa fi Yo'aan, ajajaa loltootaatiin, «Kolbaan dalleya dhaka'aa irra jirtu hin dhageettii, afaan Ibrootaatiin nutti hin dubbatin; nuuti waan beennuuf, afaan worra Aaramiitiin nu tajaajiltoota teetitti dubbadhu» jedhane.

²⁷ Inni deebisee, «Gootaan kiyya dubbii tana gootaa keessanii fi isin qofatti akka dubbadhuuf na erge isinitti fakkaataa? Namoota dalleya dhaka'aa irra jiranu, worra akkuma keessan udaan ifii nyaatu'uu fi fincaan ifii unu'uu jiruuf, akka dubbadhuuf na ergee motii ree?» jedhe.

²⁸ Achiin duuba ajajaan loltootaa sun dhaabbatee, qoonqoo ol qabatee afaan Ibrootaatiin, «Dubbii mootii guddaa Asoorii dhage'a'a!

²⁹ Mootichi, «Hisqiyaas harka kiyyaa isin baasuu waan hin dandeenneef, inni isin hin sobin» jedha.

³⁰ Hisqiyaas, «Mootiin Waan Maraa dhugumaan nu hin baasa; qachaan kunille harka mootii Asooriititti dabarfamee hin kennamu» jedhee Mootii Waan Maraattitti akka addattanu isin hin godhin.

³¹ Waan Hisqiyaas jedhu hin dhage'ina'a. Mootiin Asoorii: Na woliin araarama'aatii, gara kiyya kowa'a; achiin duuba tokko tokkoon keessan midhaan woyni'ii keessanii fi midhaan harru'uu keessan hin nyaattan; boolla bisaan keessanii keessaa bisaan hin untan.

³² Tun haga ani dhufee lafa ta akka lafa teessanii fakkaattu, lafa midhaanitiin fi daadhii woyni'ii, lafa daabbo'ootii fi lafa muka woyni'ii, lafa zayitii ejersaatii fi lafa dammaatitti isin geessutti teeti. Maarre isin du'a adoo hin te'in jiruu filadha'a; Hisqiyaas: Mootiin Waan Maraa nu hin baasa jedhiisaan yennaa isin dokonkorsu isa hin caqasina'a.

³³ Waaqota gosa biyya adda addaa keessaa, lafa ifii harka mootii Asoorii jalaa ka baase jiraa ree?

³⁴ Waaqoti Haama'aatii fi Arphaadii eessa jiran ree? Waaqoti Sefarwaayimii, waaqoti Hena'aatii fi Iiwaa eessa jiran ree? Isaan qachaa Samaariya'aa harka kiyyaa baasaneeranii ree?

³⁵ Waaqota biyyoota tanaa mara keessaa, lafa ifii harka kiyyaa ka baasuu dande'e kam ree? Eegasuu Mootiin Waan Maraa attam Yersaaleem harka kiyyaa baasuu dande'a ree?» jedhe.

³⁶ Mootichi Hisqiyaas, «Deebii isaaf hin kennina'a» jedhee waan isaan ajajeeruuf, kolbaan cadhitte; waan tokkolle hin deebinne.

³⁷ Achiin duuba itti gaafatamaan mana mootumma'aa ilmi Hilqiiya'aa Eliyaaqim, barreessaan mana mootumma'aa Shebnaanii fi itti gaafatamaan galmee mana mootumma'aa ilmi Asaafii Yo'aan gaddanee woyaa ifii tarsaasane; gara Hisqiyaasii mootichaa dhaqanee, waan ajajaan loltoota Asoorii dubbate isatti himane.

19

Hisqiyaas Akka Isaayaas Isa Gorsu Gaafate (Isa. 37:1-7)

¹ Mootichi Hisqiyaas tana yennaa dhage'e, gaddee woyaa ifii tarsaase; woyaa gaddaalle uffatee gara Galma seene.

² Inni itti gaafatamaa mana mootumma'aa Eliyaaqim, barreessaa mana mootumma'aa Shebnaa'aa fi hayyootaa keessaa worri jaarsolee te'ane, woyaa gaddaa uffatane, gara Isaayaasii raagicha ilma Amosii akka dhaqanu erge.

³ Isaan Isaayaasiin, «Mootichi Hisqiyaas, «Barri kun bara rakkinnaa, bara adabbi'iitii fi bara salphinnaa ti; akka dubartii deyiisa geettee hunna ittiin ciniinsifattee deettu dhadduu ti.

⁴ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti dubbii ajajaan loltootaa Rabshaaqeen goottaan isaa mootiin Asoorii isa ergee, Waaqa jiraata'atti akka inni murgu godhe tana mara dhage'ee, isa hin adaba fa te'aa, nu worra diqqaa lubbu'uun hanneef daadimadhu» jedha» jedhane.

⁵ Tajaajiltooti Hisqiyaasii mootichaa gara Isaayaasii yennaa dhufane,

⁶ inni isaaniin, «Mootiin Waan Maraa, «Dubbii tajaajiltooti mootii Asoorii, na faanshessite waan dhageetteef hin sodaatin.

⁷ Kunoo, ani ayyaana akka inni oduu dhage'ee, gara biyya ifii deebi'u isa godhu, isaaf hin kenna; achitti shallaaga'aan akka inni du'u hin godha» jedheera, jedha'aatii gootaa keessanitti hima'a» jedhe.

Roorroo Senaaheriibii
(Isa. 37:8-20)

⁸ Mootiin Asoorii qachaa Laakiishii lakkisee akka deeme, ajajaan loltoota Asoorii dhage'ee yennaa deebi'e, inni qachaa Liibna'aa loliisatti jiruun dhagge.

⁹ Mootiin Gibxi'ii Tiirhaaqaan nami biyya Itoophiya'aa* akka isa loliisaaf dhufaaruu, Senaaheriib yennaa dhage'e, Hisqiyaasii mooticha Yihuda'aatitti namoota ergee,

¹⁰ «Waaqi ati itti addattu sun, «Yerusaalem harka mootii Asooriititti, dabarfantee hin kennantu» jedhee si hin sobin.

¹¹ Kunoo, ati waan moototi Asoorii biyyoota mara godhane, akka isaan ijjumaa isaan balleessane dhageetteerta; ati hin baata seetaa?

¹² Waaqoti gosa biyya adda addaa, ka abbootiin tiyya ta durii balleessite, waaqoti qachoota Gozaanii, Kaaraaniitii fi Rezeefii, waaqoti kolbaa Edenii ta Tel-Asaar keessa leetuu, isaan baasaneeranii ree?

¹³ Moototi qachoota Haamaatii, Arphaadii, Sefarwaayimii, Henaatii fi Iiwaa meet ree?» jedhe.

¹⁴ Mootichi Hisqiyaas worra ergame irraa xalayaa fuudhee dubbise; achiin duuba gara Galma Mootii Waan Maraa dhagee, xalayaa san Mootii Waan Maraa duratti diriirse.

¹⁵ Inni daadimatee, «Ee Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii, ka dada ol-gubba'aa ta koola qadduun† gubbaa barcumaa mootumma'aa irra teetteertu, Waaqi mootota biyya lafaa maraa si qofa; lafaa fi ol-gubbaa daddeerta.

¹⁶ Ee Mootii Waan Maraa, gurra keeti gara keenna deebifadhuu dhage'i; ila teetille banadhuutii ilaali; jecha Senaaheriib si Waaqa jiraataa arrassiisaaf erge dhage'i.

¹⁷ Ee Mootii Waan Maraa, moototi Asoorii gosa biyya adda addaatiif fi lafa isaanii dhugumaan balleessaneeran;

¹⁸ waaqoti isaaniille, dhaka'aa fi muka irraa harka namaatiin bocamanee hujamane malee, waaqota waan hin te'iniif gubanee balleessane.

¹⁹ Ammalle, ee Mootii Waan Maraa Waaqa keenna, mootummaan lafaa marti, Mootiin Waan Maraa Waaqi si qofa akka te'e akka beekanuuf, harka mootii Asoorii jalaa nu baasi» jedhe.

Waaqi Hisqiyaasiif Deebii Kenne
(Isa. 37:21-38)

* **19:9** Itoophiyaa: Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali. † **19:15** Dada ol-gubba'aa ta koola qadduun gubbaa: Afaan Ibrootaatiin Kiruubeliin gubbaa jedha.

²⁰ Achiin duuba ilmi Amosii Isaayaas ergaa gara Hisqiyaasii ergee, «Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii: Ani waan ati marroo Senaaheriibii mootii Asooriitiif gara kiyya daadimatte dhage'eera jedha.

²¹ Mootiin Waan Maraa marroo isaatiif:

«Ee Senaaheriib, kolbaan Xiyoonii
si tuffattee sitti murgiti.

Si'ii baqatiisatti jirtuun kolbaan Yerusaalemii
si duubaan sitti kolliti.

²² Ka ati arrassitee fi
ka ati faanshessite eennu?
Ati eennu irratti barooddee ila teeti baache?
Ana Waaqa woyyicha Israa'elii irratti motii?» jedha.

²³ Ati karaa ergantoota teetiitiin,
Mootii Waan Maraa irratti murgitee,
«Ani garreettaa kiyya
ka fardaan harkifamu heddu'uun
gara qaccee gaarotaatitti,
qaccee gaarota Libaanoniititti ol bayeera;
qaccee gaarota sanii irraa
hindheensa dhedheera'aa fi
birbirsaa dadansaa jijjisseera;
gongomaa keessa fagaadhee
ciggaa seeneera.

²⁴ Biyya ormaa keessatti
boolla bisaanii qotee,
bisaan achii uneera;
faana miila kiyyaatiin
lagoota Gibxi'ii mara gosseera» jette.

²⁵ «Mootiin Waan Maraa,
Waan amma te'e kana akka ani qopheesse,
bara heddu'uun dura karoora akka baase,
qachoota dalleya dhaka'aa qabanu
akka ati butuchitu,
tuulaa kosi'iille akka ati isaan gootu,
akka ani godhe ati hin dhageennee?

²⁶ Kolbaan qachoota san keessa leetu
hunna dhaddee,
sodaattee qaanotteerti;
akka lattu diida keessaa
yookiin akka marra bisile'ee,
akka marra mana irratti latee
adoo hin guddatin
qilleensaan qooree te'aneeran.

²⁷ «Ani ammoo ka'aa fi teessoo teeti,
bayaa fi gala keeti,
aari'iin na irratti ka'iisa keeti beekeera.

²⁸ Ati aari'iin na irratti waan kaateef,
kooriisa keetille waan dhage'eeruuf,
ani saganaa kiyya funnaan keetitti,
bixaala kiyya afaan keetitti keyee,
karuma dhutte si deebisa» jedhe.

²⁹ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa,

- ee, Mooticha Hisqiyaas,
 «Tun beessisa si'iif hin teeti:
 baranaa fi bara dhufu
 midhaan ifumaan latee guddatu hin nyaatta;
 woggaa sadeesso'oo ammoo
 midhaan facaattee hin haammatta
 yookiin muka woyni'ii dhaabbattee
 midhaan isi'ii hin nyaatta.
- ³⁰ Sanyii Yihuda'aa keessaa worri miliqee hafe,
 akka muka hidda gad yaafatee midhaan buusuu,
 ijoollee hedduu hin horan.
- ³¹ Worri Yerusaalem keessaa fi
 gaara Xiyoonii irratti hafane hin dhufan;
 hinaaffaan Mootii Waan Maraa
 ka waan mara dande'uu tana hin gooti.

- ³² «Tanaaf Mootiin Waan Maraa marroo mootii Asooriitiif:
 «Inni qachaa kana hin seenu
 yookiin daaya as itti hin darbatu.
 Wontee qabatee itti hin dhikaatu
 yookiin yaabbannoo midhaaffatee hin seenu.
- ³³ Inni karuma dhufe deebi'a malee,
 qachaa kana hin seenu.

- ³⁴ «Ani ulfinna kiyyaa fi
 waadaa tajaajilaa kiyya Daawitii galeef jedhee,
 qachaa kana hin eega;
 hin hamburalle'e» jedheera» jedhe.

³⁵ Halkanuma san ergamaan Mootii Waan Maraa gara addee quttuma
 worra Asoorii dhaqee, namoota kuma dhibba tokkoo fi kuma saddeet-
 tamii shan ijeese; boruuyaa ganama namooti yennaa ka'anuu, nami marti
 du'eeruun dhaggane.

³⁶ Achiin duuba mootiin Asoorii Senaaheriib, addee quttumaa san
 lakkisee, gara qachaa Nanawwe'ee deebi'ee achi le'e.

³⁷ Gaafa tokko inni galma waaqa ifii keessa seenee, waaqa ifii ka «Nis-
 roo» jedhamu waaqonfatiisatti adoo jiruu, ilmaan isaa Adraamelekii fi
 Shaarezer shallaaga'aan isa ijeesane, gara lafa Araaraatiititti baqatane;
 addee isaatiitti ilmi isaa Esaar-hadon mootii te'e.

20

Hisqiyaas Dhibamee Fayye

(Isa. 38:1-8,21-22; 2 Dab. 32:24-26)

¹ Bara san mootichi Hisqiyaas guddoo dhibamee du'uu geyeeraayyu;
 Isaayaasiin raagichi ilmi Amosii gara isaa dhaqee, «Mootiin Waan Maraa,
 «Ati hin duuta malee, dhibee teeti irraa waan hin fayyineef, waan mara
 midhaaffadhu» siin jedha» jedheen.

² Hisqiyaas fuula ifii gara dhaaba manaa* garagalee Mootii Waan Maraa
 daadimatee,

³ «Ee Mootii Waan Maraa, ani addatamumma'aa fi gadhaa tokkochaan si
 tajaajilee, yennaa mara waan si duratti dansaa te'e akka huje qaabadhu»
 jedhee laaleffatee bowe.

* **20:2** *Dhaaba manaa:* Lafa tokko tokkotti *gimoo manaa* jedhama.

⁴ Isaayaas achii gad bayee, badhinna mana mootumma'aa ka wodhakka'aa adoo hin dabarin jechi Mootii Waan Maraa gara isaa dhufee,

⁵ «Deebi'iitii Hisqiyaasii kolbaa tiyya sooressuun, «Ani Mootiin Waan Maraa Waaqi abbaa keeti Daawitii daadimata keeti dhage'eera; imimmaan teetille dhaggeera. Ani si hin fayyisa; guyyaa sadeesso'oo gara Galma Mootii Waan Maraa ol hin baata;

⁶ bara jiruu teetii irratti woggaa kudhanii shan hin ede'a; si'ii fi qachaa kanalle harka mootii Asoorii jalaa hin baasa; ani ulfinna kiyyaa fi waadaa tajaajilaa kiyya Daawitii galeef jedhee, qachaa kana hin eega» jedhiin» jedhe.

⁷ Achiin duuba Isaayaas tajaajiltoota mootichaatiin, «Midhaan harru'uu irraa xaltaa huja'aatii fida'aa iita isaa irra keya'aaf» jedhe; isaanille akkuma ajajamane godhane; Hisqiyaasille fayye.

⁸ Mootichi Hisqiyaas, «Mootiin Waan Maraa akka na fayyisuu fi guyyaa sadeesso'oo akka gara galma Mootii Waan Maraa ol bayu beessisi maan?» jedhee, Isaayaas gaafate.

⁹ Isaayaas deebisee, «Gaaddis yaabbannoo kudhan gara duraa deemuu ti moo yaabbannoo kudhan gara duubaa deebi'uu ti? Mootiin Waan Maraa waadaa gale ka muummessu akka te'e, beessisi inni si'iif kennu kana» jedhe.

¹⁰ Hisqiyaasille, «Gaaddis yaabbannoo kudhan gara duraa deemiisi kasoo waan te'eef, yaabbannoo kudhan gara duubaa deebi'uu ti» jedhe.

¹¹ Achiin duuba Isaayaasiin raagichi gara Mootii Waan Maraa daadimate; Mootiin Waan Maraalle yaabbannoo Akaaz huje irra, yaabbannoo kudhan gaaddis gara duubaa akka deebi'u godhe.

Ergantoota Baabilon Irraa Dhufane (Isa. 39:1-8)

¹² Yennaa san mootiin Baabilonii ilmi Baladaanii Merodaak-Baladaan, Hisqiyaas dhibamee akka fayye dhage'ee, xalaya'aa fi kennansa isaaf erge.

¹³ Hisqiyaas ergantoota san gammadaan fudhatee, karra mana karri mootumma'aa keessatti kuufame keessa jirtu mara meetii, worqii, ud-dowaa adda addaa, fiqiree gatii guddo'oo, mana meya woraanaa ka karra mana mootumma'aatii fi karra mootummaa isaa keessatti dhaggantu mara tokkolle adoo hin hamburin isaanitti mudhise.

¹⁴ Achiin duuba raagichi Isaayaas gara Hisqiyaasii mootichaa dhaqee, «Worri kun maan si'iin jedhane? Isaan eessaa dhufane?» jedhee gaafate.

Hisqiyaas deebisee, «Isaan biyya fago'oo Baabilon irraa dhufane» jedhe.

¹⁵ Maarre Isaayaas, «Isaan mana mootumma'aa keeti keessatti maan dhaggane?» jedheen.

Hisqiyaas deebisee, «Isaan waan mana mootumma'aa kiyya keessaa mara dhagganeeran; karra tiyya keessaa wonni ani isaanitti hin mudhisin tokkolle hin jiru» jedhe.

¹⁶ Achiin duuba Isaayaas mootichaan, «Jecha Mootii Waan Maraa dhage'i!

¹⁷ Mootiin Waan Maraa, «Karri mana mootummaa teeti keessaatii fi karri abbootiin teeti ta durii haga adhaa wolitti qabatte marti gara biyya Baabilonii guyyaan fudhatamanu hin dhufa; wonni tokkolle si'iif hin hafu.

¹⁸ Ilmaan teeti ta uumattu keessaa gariin fudhatamanee, mana mootummaa mootii Baabilonii keessatti guneessota te'anee hin tajaajilan» jedha» jedhe.

¹⁹ Achiin duuba Mootichi Hisqiyaas, «Haga ani jiru nageennii fi gabbiin hin te'a» jedhee waan yaadateef, Isaayaasiin «Jechi Mootii Waan Maraa ka ati dubbatte dansa'a» jedhe.

Du'a Hisqiyaasii
(2 Dab. 32:32-33)

²⁰ Wonni dhibiin ta mootichi Hisqiyaas huje marti, hujiin jannummaa isaa, baleessa bisaanii attam akka baasee fi karaa bisaan lola'u baqassee gara qacha'aa attam akka fide, kitaaba dabarsii mootota Yihuda'aa keessatti barreeffanteerti.

²¹ Hisqiyaas du'ee, addee isaatitti ilmi isaa Minaaseen mootii te'e.

21

Mootii Yihuda'aa Minaasee
(2 Dab. 33:1-20)

¹ Minaaseen yennaa mootii te'e nama woggaa kudhanii lamaa ti; inni Yersaalem keessa tee'ee woggaa shantamii shan bulche. Maqaan haadha isaa Hefziiba'a.

² Inni akkuma kolbaa biyya adda addaa ta waan battii hujjeen Mootiin Waan Maraa kolbaa Israa'elii duraa ari'ee baase sanii, aadaa battittii hordofee Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu huje.

³ Inni addee waaqonfanna'aa, ta abbaan isaa Hisqiyaas diige deebisee ijaare; akkuma mootiin Israa'elii Ahaab godhe, innille Ba'aaliif addee ciinca'aa ijaaree, fakkii waaqa dharaa ta, «Asheeraa» jedhantuu huje. Inni urjoota ol-gubba'aatiif sagadee, isaanille waaqonfate.

⁴ Inni Galma Mootii Waan Maraa keessatti addee Mootiin Waan Maraa, «Ani Yersaalem keessatti hin waaqonfama» jedhetti, addee ciinca'aa ta worra Waaqa hin beennee ijaare.

⁵ Badhinna Galma Waaqaa lamaanuu keessatti, urjoota ol-gubba'aa mara waaqonfatiisaaf addee ciinca'aa ijaare.

⁶ Inni ilma ifiituu ciincaa dhikeessee,* worra moru, worra xanoo xanu, worra ekeraa dubbisiisuu fi worra moora ilaalu irraa gorsa gaafatee, Mootii Waan Maraa duratti waan akka malee hantu'uu hujee akka Mootiin Waan Maraa aaru godhe.

⁷⁻⁸ Inni fakkii waaqa dharaa ta, «Asheeraa» jedhantuu ka huje san Galma Mootii Waan Maraa, ka Mootiin Waan Maraa Daawitii fi ilma isaa Solomooniin, «Ani Galma kana keessatti, Yersaalem addee gosa Israa'elii mara keessaa filadhe keessa, maqaan kiyya haga bara baraa hin jiraata. Kolbaan Israa'elii ajaja kiyyaa fi Seera tajaajilaan kiyya Muuseen isaanii kenne mara yoo eegatte, lafa ani abbootii isaanii ta duriitiif kenne keessaa bayanee akka isaan joonjanu deebi'ee hin godhu» jedhe san keessa keye.

⁹ Minaaseen isaan dokonkorsee, isaan gosa biyya adda addaa ta Mootiin Waan Maraa Israa'eloota duraa ari'ee baase caalaa, waan hantuu hujane malee Mootii Waan Maraa hin caqanne.

¹⁰ Mootiin Waan Maraa karaa tajaajiltoota ifi raagotaatiin,

¹¹ «Mootiin Yihuda'aa Minaaseen cubbuu battittii tana hujeera; inni worra Amoorotaa ka isa dursanu caalaa waan hamaa hujee, waaqota dharaa ifitiin kolbaan Yihuda'aa akka cubbuu hujju godheera.

¹² Tanaaf Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, «Ani balaa hamaa ka nami dhage'u marti rifatu, Yersaalemii fi Yihudaa irratti hin fida.

¹³ Akkuma qachaa Samaariya'aatii fi mootii Israa'elii Ahaab sanyii isaa waliin adabe, Yersaalemille hin adaba. Akkuma nami qorii haxowee gad gombisu, anille Yersaalem haxowee gad hin gombisa.

* 21:6 Ciincaa dhikeessee: Afaan Ibrootaatiin ibidda keessa qaxxaamursee jedha.

¹⁴ Kolbaa tiyya ta badii irraa hatte, harka diinota isaaniititti dabarsee hin kenna; isaan diinota ifii maraan booji'amanee hin saamaman.

¹⁵ Isaan bara abbootiin isaanii ta durii biyya Gibxi'iitii baateen jalqabane, haga adhaatitti ila tiyya duratti cubbuu hujanee, akka ani aaru waan godhaneef, ani tana isaan irratti hin godha» jedha» jedhe.

¹⁶ Minaaseen kolbaan Yihuda'aa Mootii Waan Maraa duratti cubbuu akka hujju ta godhe caalaa, Yerusaalem qacce'ee haga qacce'eetitti dhiiga worra yakkaa hin qanne heddu'uu dhangalaase.

¹⁷ Wonni Minaaseen huje ta dhibi'ii fi cubbuun inni huje duudiin, kitaaba dabarsii mootota Yihuda'aa keessatti barreeffanteerti.

¹⁸ Minaaseen du'ee, oorruu mana mootummaa ifii keessatti, addee oorruu Uza'aatitti awwaalame; addee isaatitti ilmi isaa Amooni mootii te'e.

Mootii Yihuda'aa Amooni (2 Dab. 33:21-25)

¹⁹ Amooni yennaa mootii te'e nama woggaa diddamii lamaa ti; inni Yerusaalem keessa tee'ee woggaa lama bulche. Maqaan haadha isaa Meshulemeetii; isiin intala Haaruzii nama qachaa Yoxbaa ti.

²⁰ Innille akkuma Minaasee abbaa ifii, Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu huje.

²¹ Inni karaa abbaa ifii mara hordofee, waaqota dharaa ka abbaan isaa waaqonfate waaqonfatee, isaaniifille sagade.

²² Inni Mootii Waan Maraa Waaqa abbootii ifii ta durii lakkise; karaa Mootii Waan Maraalle hin hordonne.

²³ Tajaajiltooti Amoonii mala isa irratti dhoottee, mana mootumma'aa keessatti isa ijeette.

²⁴ Achiin duuba Kolbaan lafa sanii worra Amoonii mooticha irratti mala dhowe mara ijeettee, addee isaatitti ilma isaa Yosiyaas mootii goote.

²⁵ Wonni dhibiin ta Amooni huje duudiin kitaaba dabarsii mootota Yihuda'aa keessatti barreeffanteerti.

²⁶ Amooni addee awwaala ifii oorruu Uza'aa keessatti awwaalame; addee isaatitti ilmi isaa Yosiyaas mootii te'e.

22

Mootii Yihuda'aa Yosiyaas (2 Dab. 34:1-2)

¹ Yosiyaas yennaa mootii te'e nama woggaa saddeetii ti; inni Yerusaalem keessa tee'ee, woggaa soddammii tokko bulche. Maqaan Haadha isaa Yidiida'a; isiin intala Adaayaa nama qachaa Bozqaa ti.

² Yosiyaas Mootii Waan Maraa duratti waan sirrii te'e huje; inni karaa abbaa ifii Daawitii mara hordofee, middaa fi bitaa irraa hin gorre.

Kitaab Seeraa Dhaggame (2 Dab. 34:8-25)

³ Yosiyaas mootii te'ee, woggaa kudhanii saddeetesso'ootitti, barreessaa mana mootumma'aa akaakoo Meshulaamii ilma Azaaliya'aa Shaafaan gara Galma Mootii Waan Maraa ergee,

⁴ «Gara Hilqiiyaa hayyicha gudda'aa dhaqiitii, «Beesee eeddoti karra Galma Mootii Waan Maraa, kolbaa irraa guurtee, gara Galma Mootii Waan Maraa fidde akka inni laakkowu godhi.

⁵ Eeddoti sun beesee san itti gaafatantoota hujii Galma Mootii Waan Maraatiitti kennanuu ti; isaanille worra Galma Mootii Waan Maraa haares-suuf,

⁶ worra muka bocuuf, worra dhaka'aan ijaaruu fi worra dhakaa bocuuf kaffalanuu ti; akkasuma Galma Mootii Waan Maraa haaressiisaaf mukaa fi dhakaa bocame ittiin bitanuu ti.

⁷ Isaan ka addatamane waan te'aneef, beesee isaanitti kennante hin qorqorina'a» jedhiitii itti himi» jedhe.

⁸ Hayyichi guddaan Hilqiiyaan, barreessaa mana mootumma'aa Shaafaaniin, «Kitaaba Seeraa Galma Mootii Waan Maraa keessatti dhaggeera» jedhee, kitaaba san Shaafaanitti kenne; Shaafaanille irraa fuudhee dubbise.

⁹ Achiin duuba barreessaan Shaafaan gara mootichaa dhagee, «Tajaajiltooti teeti beesee Galma Mootii Waan Maraa keessa jirtu fuutee, itti gaafatantoota hujii Galma Mootii Waan Maraatiitti kenniteerti» jedhee itti hime.

¹⁰ Achiin duuba barreessaan Shaafaan mootichaan, «Hayyichi Hilqiiyaan kitaaba tokko natti kenneera» jedhee, qoonqoo ifii ol qabatee kitaaba san mootichaaf dubbise.

¹¹ Mootichi dubbii kitaaba seeraa keessaa dubbifante yennaa dhage'e, gaddee woyaa ifii tarsaase.

¹² Achiin duuba mootichi hayyicha Hilqiiyaa, ilma Shaafaanii Ahiiqaam, ilma Miikaaya'aa Akbor, barreessaa Shaafaanii fi tajaajilaa mootichaa Asaayaa ajajee,

¹³ «Abbootiin teenna ta durii jecha kitaaba kana keessaatiif waan hin ajajaminiif, waan achi keessatti nu'uuf barreeffame mara waan hin hujiniif, Mootiin Waan Maraa guddoo nutti aareera; marroo jecha kitaaba dhaggame kanaa anaaf, kolba'aaf, kolbaa Yihuda'aa maraafille jedha'aatii Mootii Waan Maraa gaafadha'a» jedhe.

¹⁴ Maarre Hayyichi Hilqiiyaan, Ahiiqaam, Akbor, Shaafaanii fi Asaayaan gara Huldaa raagitti'ii gaafatiisa dhaqane; isiin haadha manaa Shaalumii ilma Tiiqiwa'aa akaakoo Harhaasii ka uffana eeguu ti; isiin kutaa qachaa Yersaaleemii haareya keessa leeti.

¹⁵ Isiin isaaniin, «Dhaqa'aatii waan Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii jedhu namicha isin gara kiyya ergetti hima'a.

¹⁶ Mootiin Waan Maraa, «Ani balaa kitaaba mootiin Yihuda'aa dubbise keessatti barreeffame mara addee tanaa* fi kolbaa addee tanaa irratti hin fida.

¹⁷ Isaan na lakkisanee waaqota dhibi'iif hixaana aarsanee, waaqota dharaa ka harki isaanii hujeen akka ani aaru waan godhaneef, aariin tiyya addee tana irratti hin bobeeetti; hin dhaantulle'e» jedhe.

¹⁸ Mootii Yihuda'aa akka isin Mootii Waan Maraa gaafattanuu ka isin ergeen ammoo, Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii «Dubbii dhageette saniif,

¹⁹ biyyi tunii fi kolbaan biyya tanaa akka badduu fi akka abaarantu ta ani dubbadhe yennaa dhageette, gadhaan keeti tuqamee Mootii Waan Maraa duratti ifi gad qaddee, gadditee woyaa teeti tarsaattee, na duratti waan bootteef, anille si'iif dhage'eera.

²⁰ Tanaaf balaa ani addee tana irratti fidu mara adoo hin dhaggin, akka addee dhuga'aatitti galu si hin godha; nageyaan hin awwaalanta» jedheera» jette.

Maarre isaan deebi'anee ergaa tana mooticha Yosiyasitti himane.

* **22:16 Addee tana:** Addeen tun qachaa Yersaaleemii ti.

23

Yosiyaas Gondooroo Haaresse (2 Dab. 34:3-7,29-33)

¹ Mootichi Yosiyaas jaarsolee Yihuda'aatii fi Yerusaalemii mara wolitti waame.

² Inni kolbaa Yihuda'aa mara, worra qachaa Yerusaalemii keessaa mara, hayyootaa fi raagota mara, kolbaa mara diqqa'aa fi guddaa woliin gara Galma Mootii Waan Maraa ol baye. Jecha kitaaba Gondooroo'oo ka Galma Mootii Waan Maraa keessatti dhaggame keessa jiru mara akka isaan dhage'anu dubbise.

³ Mootichi Mootii Waan Maraa hordofiisaaf ajaja isaa, seerata isaatii fi seera isaa gadhaa tokkochaan, lubbuu ifii takkatti'iin eegatiisaaf, gondooroo kitaaba kana keessatti barreenfante jabeessiisaaf, utubaa bira dhaabbatee Mootii Waan Maraa duratti gondoore. Achiin duuba kolbaan marti gondooroo sanitti wolii galane.

⁴ Mootichi Yosiyaas meya Ba'aaliif, waaqa dharaa ta, «Asheeraa» jedhantuu fi urjoota ol-gubba'aa maraaf hujame mara Galma Mootii Waan Maraa keessaa akka baasanu, hayyicha guddaa Hilqiiyaa, hayyoota hayyicha gudda'atti aananuu fi eeddota karra Galma Mootii Waan Maraa ajaje. Inni meya san duudii qachaa Yerusaalemiitiin alatti diida dhooqa Qedroonii keessatti gubee, daadhaa gara qachaa Bet'elii geesse.

⁵ Inni hayyoota waaqota dharaatiif addee Waaqonfanna'aa ta qachoota Yihuda'aatii fi adaala Yerusaalemii irratti hixaana akka aarsanuuf, akka-suma Ba'aaliif, adu'uuf, ji'aaf, tuuta urjootaatiif fi urjoota ol-gubba'aa maraaf hixaana akka aarsanuuf worra moototi Yihuda'aa filatane duudii ari'e.

⁶ Fakkii waaqa dharaa ta, «Asheeraa» jedhantuu Galma Mootii Waan Maraa keessaa baasee, qachaa Yerusaalemiitiin alatti gara diida dhooqa Qedroonii geessesse achitti gube; achiin duuba daakee bulleessee, daadhaa san awwaala namootaa irratti bittinneesse.

⁷ Inni kolloo dhiira wol bukkoonsituuf Galma Mootii Waan Maraa keessatti hujantee fi ta dubartooti gollaa waaqa dharaa ta «Asheeraa» jedhantuuf keessatti suqaa suxxu diigee balleesse.

⁸ Yosiyaas hayyoota mara qachoota Yihuda'aa keessaa fidee, biyya Geba'iitii haga Bersheeba'aatitti, addee waaqonfanna'aa ta hayyooti hixaana irratti aarsitu mara batteesse. Inni addee waaqonfanna'aa, ta seen-suma gara karra Iyaasuu bulchaa qacha'aa biraa, ta seensuma karra qacha'aa irraa gara bita'aa jiranulle diige.

⁹ Hayyooti addee waaqonfanna'aa tajaajilanu sun addee ciinca'aa ta Mootii Waan Maraa ta Yerusaalem keessaa irratti ciincaa dhikeessuu dhabanulle hayyoota firoottan ifii woliin daabboo uukoo hin qanne nyaatane.

¹⁰ Mootichi Yosiyaas nami tokkolle ilma ifii yookiin intala ifii ciincaa godhee, waaqa Moleekiitiif akka hin dhikeessineef, addee ciinca'aa ta «Toofet» jedhantu ta dhooqa Hiinomii keessa jirtu batteesse.

¹¹ Inni fakkii fardo'oo ta moototi Yihuda'aa seensuma Galma Mootii Waan Maraa dura, waaqonfannaa adu'uutiif adda baasane mara balleesse; fardoona sun badhinna mana qondaalticha, «Naataan-Melek» jedhamu bira jirtiyyu; Yosiyaas garreettaa tajaajila adu'uutiif adda baafamane gube.

¹² Addee ciinca'aa ta moototi Yihuda'aa kolloo mana irraa ta mooticha Ahaazii irratti ijaaranee fi addee ciinca'aa ta mootichi Minaaseen badhinna Galma Mootii Waan Maraa san lamaanuu keessatti ijaare, mootichi Yosiyaas diige; inni addee ciinca'aa san butuchee, bututaa san dhooqa Qedrooniititti gate.

¹³ Mootichi Yosiyaas addee waaqonfanna'aa ta mootiin Israa'elii Solomoon, qachaa Yersaaleemii irraa gara aduun baatutti, kooba badi'ii irraa gara kibbaatitti, waaqa dharaa Sidoonii ta, «Ashitaaroti» jedhantuuf, waaqa dharaa Mo'aabii ka, «Kemoshi» jedhamuu fi waaqa dharaa Amoonotaa ka, «Moleek» jedhamuuf ijaarelle batteesse.

¹⁴ Mootichi Yosiyaas soodduu woyyittii caccassee, fakkii waaqa dharaa ta, «Asheeraa» jedhantuu muree jisee, addee san lafee namootaatiin guute.

¹⁵ Inni addee ciinca'aa ta Bet'el keessaa, addee waaqonfanna'aa ta ilmi Nebaati Yeroobi'aam ijaaree Israa'eloota cubbuu hujisiise diigee butuchee gube; fakkii waaqa dharaa ta, «Asheeraa» jedhantuulle gube.

¹⁶ Akkuma Mootiin Waan Maraa karaa nama Waaqaatiin dursee dubbatetti, Yosiyaas garagalee yennaa ilaale, addee awwaalaa koobota irra jirtu dhaggee namoota ergee, lafee addee awwaalaa san keessa jirtu baasisiisee, addee ciinca'aa irratti gubee, addee ciinca'aa san batteesse.

¹⁷ Achiin duuba inni, «Addeen awwaalaa sun ta eennuu ti?» jedhe.

Kolbaan qachaa Bet'elii deebittee, «Addeen awwaalaa sun ka nama Waaqaa lafa Yihuda'aatii dhufee ti; inni waan ati amma addee ciinca'aa tana irratti goote ka dursee dubbate» jette.

¹⁸ Yosiyaasille, «Eennulle lafee isaa hin tachoosin» jedhe.

Maarre isaan lafee isaatii fi lafee raagicha lafa Samaariya'aatii dhufee lakkisane.

¹⁹ Mootichi Yosiyaas akkuma Bet'elitti godhe, galma addee waaqonfanna'aa, ta moototi Israa'elii qachoota Samaariya'aa keessatti ijaarane, akka Mootiin Waan Maraa aaru godhane mara diige.

²⁰ Inni hayyoota addee waaqonfanna'aa tajaajiltu mara addee ciinca'aa irratti qalee, addee ciinca'aa san irratti lafee namaa gube. Achiin duuba gara Yersaaleemii deebi'e.

Yosiyaas Jila Irra Dabaramaa Jilise

²¹ Mootichi Yosiyaas, «Akkuma kitaaba Gondooro'oo keessatti barreeffante, Mootii Waan Maraa Waaqa keessaniif Jila Irra Dabaramaa jilisa'a» jedhee kolbaa mara ajaje.

²² Bara abbootiin mura'aa Israa'el sooressitee jalqabee, haga bara mootota Israa'eliitii fi Yihuda'aa mara keessatti Jilti Irra Dabaramaa ta akkasii jilifante hin beettu.

²³ Yosiyaas mootii te'ee woggaa kudhanii saddeetesso'ootitti ammoo Jilti Irra Dabaramaa tun Mootii Waan Maraatiif Yersaaleem keessatti jilifante.

²⁴ Seerri Hilqiiyaan hayyichi guddaan, kitaaba Galma Mootii Waan Maraa keessatti dhagge keessatti barreeffame akka muummowuuf, Yosiyaas worra ekeraa dubbisu, waaqota maati'ii, waaqota dharaatii fi waan battii dhibii maralle, lafa Yihuda'aatii fi Yersaaleemii keessaa balleesse.

²⁵ Akkuma seera Muuse'ee keessatti barreeffante, gadhaa tokkochaan, lubbuu takkatti'in, hunna takkatti'in gara Mootii Waan Maraa ka deebi'e, mootiin akka Yosiyaasii, isaan dura yookiin isaan duubaa hin dhaganne.

²⁶ Te'uu malee Minaaseen waan godhe maraan, Mootiin Waan Maraa akka aaru waan godheef, aariin isaa guddoon ta Yihudaa irratti bobeette haga ammaa hin qabbanonne.

²⁷ Tanaaf Mootiin Waan Maraa, «Akkuma Israa'el fuula kiyya duraa balleesse, Yihudaalle fuula kiyya duraa hin balleessa; qachaa filadhe Yersaaleem, Galma ani, «Maqaan kiyya keessa hin jiraata» jedhe san hin lakkisa» jedhe.

*Du'a Yosiyaasii**(2 Dab. 35:20–36:1)*

²⁸ Wonni dhibiin ta mootichi Yosiyaas huje duudiin kitaaba dabarsii mootota Yihuda'aa keessatti barreenfanteerti.

²⁹ Bara mootummaa Yosiyaasii, mootiin Gibxi'ii Nekoon, mootii Asoorii qarqaariisaaf gara laga Efraaxiisii ol baye. Mootiin Yihuda'aa Yosiyaas isa loliisaaf itti duule; Nekoon ammoo yennaa isa dhagge Megidotti isa ijjeese.

³⁰ Tajaajiltooti isaa reeffa isaa garreettaa fardaan harkifamuun Megidoo irraa gara Yersaaleemii geessanee addee awwaala inni ifiif qopheeffatetti awwaalane.

Kolbaan Yihuda'aa ilma isaa Yeho'aa muuddee addee isaatitti mootii goote.

*Mootii Yihuda'aa Yeho'ahaaz**(2 Dab. 36:2-4)*

³¹ Yeho'ahaaz yennaa mootii te'e nama woggaa diddamii sadii ti; inni Yersaaleem keessa tee'ee, ji'a sad bulche; maqaan haadha isaa Hamutaal; isiin intala Ermiyaasii nama qachaa Liibna'aa ti.

³² Yeho'ahaaz akkuma abbootii ifii ta durii Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu huje.

³³ Mootichi Yeho'ahaaz Yersaaleem akka hin bulchine, mootiin Gibxi'ii Nekoon lafa Haamaatii keessa addee «Riiblaa» jedhantutti isa hiisisee, kolbaan biyya Yihuda'aa meetii kiiloogiraamii kuma sadii fi dhibba afur*, worqii kiiloogiraamii soddonii afur† gibira akka kaffalanu godhe.

³⁴ Mootiin Gibxi'ii Nekoon, ilma Yosiyaasii Elyaaqiim addee Yosiyaasii abbaa isaatitti mootii godhee, maqaa isaa, «Yehoyaaqiim» jedhee jijjiire. Mooticha Yeho'ahaaz ammoo booji'ee gara biyya Gibxi'ii geessee, Yeho'ahaaz achumatti du'e.

*Mootii Yihuda'aa Yehoyaaqiim**(2 Dab. 36:5-8)*

³⁵ Mootichi Yehoyaaqiim meetii fi worqii mootichi Gibxi'ii Nekoon isa gaafate kaffaliisaaf, kolbaan lafa sanii akka dandeettii ifiititti gibira akka kaffaltu godhe.

³⁶ Yehoyaaqiim yennaa mootii te'e nama woggaa diddamii shanii ti; inni Yersaaleem keessa tee'ee, woggaa kudhanii tokko bulche; maqaan haadha isaa Zabudaan; isiin intala Phedaayaa nama qachaa Ruma'aa ti.

³⁷ Yehoyaaqiimille akkuma abbootii ifii ta durii Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu huje.

24

¹ Bara Yehoyaaqiim bulche keessa, mootiin Baabilonii Nebukadnezaar biyya Yihuda'aatitti duulee qabate; mootichi Yehoyaaqiim woggaa sad isa jalatti bule. Achiin duuba yaada ifii jijjiiratee isa irratti ka'e.

² Mootiin Waan Maraa karaa tajaajiltoota ifii raagotaatiin akkuma dubbate garee loltoota Baabilonii*, garee loltoota Sooriya'aa, garee loltoota Mo'aabiitii fi garee loltoota Amoonotaa mooticha Yehoyaaqiim irratti kaasee, biyya Yihuda'aa akka balleessanuuf erge.

* **23:33** Meetii kiiloogiraamii kuma sadii fi dhibba afur: Afaan Ibrootaatiin meetii Taalentii dhibba tokkoo jedha. † **23:33** Worqii kiiloogiraamii soddonii afur: Afaan Ibrootaatiin worqii Taalentii tokko jedha.

* **24:2** Garee loltoota Baabilonii: Afaan Ibrootaatiin Garee loltoota Kaldootaa jedha; garuu isaan worruma tokko.

³ Sababa cubbuu mootichi Minaaseen huje maraatiif, Mootiin Waan Maraa fuula ifii duraa isaan balleessiisaaf, ajaja isaatiin kolbaa Yihuda'aa irratti tun teete.

⁴ Sababa Minaaseen dhiiga namoota balleessaa hin qanneelle dhangalaasee, Yerusaalem dhiigaan guuteef, Mootiin Waan Maraa araaramuu hin barbaanne.

⁵ Wonni dhibiin ta Yehoyaaqiim huje duudiin, kitaaba dabarsii mootota Yihuda'aa keessatti barreeffanteerti.

⁶ Yehoyaaqiim du'ee, addee isaatitti ilmi isaa Yehoyaakiin mootii te'e.

⁷ Mootiin Baabilonii lafa Gibxi qabatee turte mara, laga Gibxi'iitii kaasee haga laga Efraaxiisii waan qabateef, mootiin Gibxi'ii biyya ifitii bayee deebi'ee hin duulle.

Mootii Yihuda'aa Yehoyaakiin

(2 Dab. 36:9-10)

⁸ Yehoyaakiin yennaa mootii te'e nama woggaa kudhanii saddeetii[†] ti; inni Yerusaalem keessa tee'ee, ji'a sad bulche. Maqaan haadha isaa Nehushta'a; isiin intala Elnaataanii nama qachaa Yerusaalemii ti.

⁹ Yehoyaakiin akkuma abbaa ifii Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu huje.

¹⁰ Bara Yehoyaakiin bulche keessa, loltooti Nebukadnezaarii mootii Baabilonii, dhaqanee Yerusaalem marsane.

¹¹ Adoo loltooti isaa qachaa san marsanee jiranuu, Nebukadnezaar ifiifuu gara Yerusaalemii dhufe.

¹² Mootiin Yihuda'aa Yehoyaakiin, haati isaa, tajaajiltooti isaa, qondaaltoti isaatii fi qondaaltoti mana mootumma'aa keessaa mootii Baabiloniititti harka kennatane; mootiin Baabilonii Nebukadnezaar mootii te'ee, woggaa saddeetessoo'ootitti Yehoyaakiin booji'ee,

¹³ akkuma Mootiin Waan Maraa dubbate, Nebukadnezaar qabeenna Galma Mootii Waan Maraatiif fi qabeenna mana mootumma'aa mara fudhate; meya worqi'ii ka mootiin Israa'elii Solomoon Galma Mootii Waan Maraatiif huje mara caccasee, worqii fudhate.

¹⁴ Inni hiyyeeyyota qofa biyya Yihuda'aa keessatti lakkisee, kolbaa Yerusaalemii mara, qondaaltota mara, loltoota mara, namoota hujii harkaa hujanuu fi sibiila tumanu mara wolumatti namoota kuma kudhan booji'ee.

¹⁵ Mootiin Baabilonii Nebukadnezaar Yehoyaakiinii mooticha, haadha isaa, niitota isaa, qondaaltota mana mootummaa isaatii fi sooressitoota Yihuda'aa Yerusaalem irraa gara Baabilonii booji'ee.

¹⁶ Mootiin Baabilonii loltoota jajjaba kuma torba ka lola dande'anuu mara, worra hujii harkaa hujanuu fi namoota sibiila tumanu kuma tokko booji'ee, gara biyya Baabilonii geesse.

¹⁷ Mootiin Baabilonii Nebukadnezaar abbaa diqqaa Yehoyaakiinii Mataaniyaa addee Yehoyaakiiniititti mootii godhee, maqaa isaa jijjiiree, «Zedeqiyyaa» jedhe.

Mootii Yihuda'aa Zedeqiyyaa

(2 Dab. 36:11-12; Erm. 52:1-3)

¹⁸ Zedeqiyyaan yennaa mootii te'e nama woggaa diddamii tokko ti; inni Yerusaalem keessa tee'ee, woggaa kudhanii tokko bulche. Maqaan haadha isaa Hamutaal; isiin intala Ermiyaasii nama qachaa Liibana'aa ti.

¹⁹ Zedeqiyyaan akkuma Yehoyaaqiimii Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu huje.

[†] 24:8 Woggaa kudhanii saddeeti: Barreeffam Ibrootaa tokko woggaa saddeeti jedha.

²⁰ Mootiin Waan Maraa waan isaanitti aareef, kolbaa Yersaalemiitii fi Yihuda'aa irratti tun marti teete; muummee irratti inni fuula ifii duraa isaan balleesse.

25

Jinnana Yersaalemi

(2 Dab. 36:13-21; Erm. 52:3-11)

¹ Zedeqiyaan mootii Baabilonii irratti ka'e; tanaaf, bara Zedeqiyaan bulche keessa woggaa sagaleesso'oo, ji'a kudhaneesso'oo guyyaa kudhaneesso'ootitti mootiin Baabilonii Nebukadnezaar, loltoota ifii mara fudhatee Yersaalemitti duule. Inni qacha'aan duuba dunkaanii dhaabatee, adaala qacha'aa marsanee yaabbannoo itti ijaarane.

² Zedeqiyaan mootii te'ee, haga woggaa kudhanii tokkeesso'ootitti, qacha'an sun akkuma marfametti ture.

³ Wogguma san keessa ji'a arfeesso'oo, guyyaa sagaleesso'ootitti, beelti waan hammaatteef kolbaan sagalee nyaattu dhadde.

⁴ Achiin duuba dalleenni qacha'aa cabe; loltooti Baabilonii qachaa marsanulle, loltooti mootii biyya Yihuda'aa halkaniin karra dalleya dhaka'aa lama odduu jirtu, ta oorruu mootichaa biraatiin miliqanee bayane. Isaan gara dhooqa Yordaanosii baqatane.

⁵ Loltooti Baabilonii ammoo, Zedeqiyaan mooticha ariitee, diida Yeriko'oo keessatti isa dhaqqadde; loltooti isaa marti isa lakkittee baqatte.

⁶ Loltooti Baabilonii Zedeqiyaan qaddee, gara Nebukadnezaarii qachaa Riiblaa keessa jiruutitti geessite; inni achitti isatti mure.

⁷ Isaan ilmaan Zedeqiya'aa, isuma duratti ijjeesane; achiin duuba ila isaa lamaanuu keessaa baasane, wodaroo sageettu'uutiin hidhane gara Baabilonii geessane.

Jinnana Galma Mootii Waan Maraa

(Erm. 52:12-23)

⁸ Nebukadnezaar mootii Baabilonii te'ee woggaa kudhanii sagaleesso'ootitti, ji'a shaneesso'oo, guyyaa torbeesso'ootitti, ajajaan loltoota mooticha eeganuu tajaajilaan mootii Baabilonii Nebuzaraadaan, gara qachaa Yersaalemi dhufe.

⁹ Inni Galma Mootii Waan Maraa, mana mootumma'aa, mana Yersaalem keessaa mara gube; mana gugurdaa mara gubee balleesse.

¹⁰ Loltooti Baabilonii ta ajajaa loltoota mooticha eeganuun sooreffamanu, dalleya dhaka'aa ka qachaa Yersaalemiititti marfameeru diigane.

¹¹ Ajajaan loltoota mooticha eeganuu Nebuzaraadaan, namoota qachaa keessatti hafane, worra mootii Baabiloniititti harka kennatanee fi kolbaa taan waliin booji'ee, gara Baabilonii geesse.

¹² Worra hiyyeeyyii ijjumaa wo hin qanne garii ammoo, muka woyni'ii akka dhaabanuu fi fichaa akka qotanu lafa Yihuda'aa keessatti lakkisee deeme.

¹³ Worri Baabilonii utuboota sageettuu irraa hujamane, waan meya irra keyanu ka korboo qabanuu fi waabaa bisaanii ka sageettuu irraa hujamane, ka Galma Mootii Waan Maraa keessa jiranu caccassanee, sageettuu san gara biyya Baabilonii geessane.

¹⁴ Akkasuma isaan okkotee sageettu'uu, akkaafaa sageettu'uu, qaraphaa issaa ittiin dhaanfanu ka sageettu'uu, girgiraa sageettu'uu, meya sageettuu irraa hujame ka Galma Waaqaa keessatti ittiin tajaajilanu mara, fudhatanee deemane.

¹⁵ Ajajaan loltoota mooticha eedduu, waan ibidda irratti bobeessanuu fi qorii, waan worqi'ii fi meetii irraa hujame mara fudhatee deeme.

¹⁶ Madaalliin utuboota lamaa ka sageettu'uu, waabaa bisaanii ka sageettu'uu, waan meya irra keyanu ka sageettu'uu ka korboo qabanuu, ka mootichi Solomoon Galma Mootii Waan Maraatiif hujee hagana hin jedhamu.

¹⁷ Hojjaan utubaa tokkoo ciqilee kudhanii saddeeti; hojjaan guutuu utuba'aa ciqilee sad; marsa guutuu utuba'aa irratti seesa caccoo sageettu'uutii fi sageettuu midhaan muka rumaanii fakkaatuun seefameera. Utubaan lammeesso'oolle akkasuma seefamee hujameera.

Kolbaan Yihuda'aa Gara Baabilonii Booji'ante
(Erm. 52:24-27)

¹⁸ Ajajaan loltoota mooticha eedduu Nebuzaraadaan, Seraayaa hayyicha sooreessa, hayyicha itti aanaa Sefaaniya'aatii fi eeddota karraa sadiin booji'e.

¹⁹ Qachaa keessatti worra hafane keessaa ajajaa loltootaa, gorsitoota mootichaa shanan, barreessaa ajajaa loltootaa ka kolbaa lafa sanii duulaaf filuu fi namoota dhibii ka qachaa san keessatti dhaggamanu jaatama fuudhee deeme.

²⁰ Ajajaan loltootaa Nebuzaraadaan, isaan mara gara mootii Baabilonii ka qachaa Riiblaa keessa jiruu geesse.

²¹ Mootiin Baabilonii lafa Haamaatii Riiblaa keessatti isaan ijjeesise. Maarre kolbaan Yihuda'aa lafa ifii irraa booji'amine deemanee.

Gedaaliyaan Bulchaa Yihuda'aa Te'e
(Erm. 40:7-9; 41:1-3)

²² Mootiin Baabilonii Nebukadnezaar, kolbaa biyya Yihuda'aa keessatti lakkise irratti akaakoo Shaafaanii, ilma Ahiiqaamii Gedaaliyaa bulchaa godhe.

²³ Ajajjooti loltoota biyya Yihuda'aa ilmi Nataaniya'aa Ishimaa'el, ilmi Qaareha'aa Yohaanaan, ilmi Tanhumetii nama qachaa Netofa'aa Seraayaan, ilmi namicha Ma'akichaa Ya'azaaniyaanii fi loltooti isaanii martinuu, mootiin Baabilonii akka Gedaaliyaa bulchaa godhe yennaa dhage'ane, gara Gedaaliya'aa Miisphaa dhufane.

²⁴ Gedaaliyaan isaaniin, «Qondaaltota Baabilonii hin sodaatina'a; lafuma tana keessa le'a'a; mootii Baabilonii tajaajila'a; wonni marti isiniif hin teeti» jedhee isaaniif kakate.

²⁵ Wogguma san keessa ji'a torbeesso'ootitti ammoo, sanyii moototaa ka te'e akaakoon Eliishaama'aa ilmi Nataaniya'aa Ishimaa'el, namoota kudhan waliin Miisphaa dhagee, Gedaaliyaa, namootaa Yihuda'aatii fi worra Baabilonii ka isa waliin jiranu lolanee ijjeesane.

²⁶ Achiin duuba kolbaan marti worra Baabilonii waan sodaatteef, diqqa'aa haga gudda'aatitti, ajajjoota loltootaa waliin ka'anee, gara biyya Gibxi'ii baqatane.

Yehoyaakiin Hidha'aa Hiikame

²⁷ Mootiin Yihuda'aa Yehoyaakiin booji'amee woggaa soddonii torbeesso'oo, ji'a kudhanii lammeesso'oo, guyyaa diddamii torbeesso'ootitti, Ewiil-Marodaak Baabilonitti mootii te'ee, woggaa tokkeesso'ootitti Yehoyaakiin hidha'aa hiike.

²⁸ Ewiil-Marodaak gadhi-laafinnaan Yehoyaakiin dubbisee, mootota dhibii ta isa waliin Baabilonii keessa jirtu caalaa ulfinna guddaa kenneef.

²⁹ Maarre yennaa sanii jalqabee Yehoyaakiin woyaa ifii ta mana hidha'aa jijjiiratee, haga jiruu ifii qorii mootichaa keessaa nyaate.

³⁰ Haga jiruu isaa, guyyuma guyya'aan waan isaaf kennamu'uuf barbaachisu mootichi qooda isaaf baase.

Kitaaba Dabarsi'ii Ka Qaraa Seensa

Kitaaboti dabarsi'ii waan kitaabota Saamu'eliitii fi kitaabota Moototaa keessatti barreeffameeru, haala adda te'een itti deebi'anee himan. Kitaabota dabarsi'ii keessatti mootummaa moototaa ta Israa'elii ilaalchisee yaada gugurdaa lamatti barreeffameera. 1. Mootummaa Israa'eliitii fi mootummaa Yihuda'aa balaan itti bu'ulle, Waaqi waadaa kolbaa ifitiif gale eegaa akka turee fi karaa kolbaa Yihudaa keessa leetuutiin karoora kolbaa ifitiif qabu hujii irra akka oolche mudhisa. Barreessaan tana mirkaneessiisaaf hujii gugurdoo Daawitii fi Solomoon hujane, haareffama Iyoosaafix, Hisqiyaasii fi Yosiyaas godhane fi kolbaa jabaattee Waaqaaf addatante irratti xiyyeeffata. 2. Galma Waaqaa ka Yerusaalem keessaatitti Waaqa waaqonfatiis attam akka jalqabame, keessattuu aadaan dhugeeffanna'aa ta waaqonfatiisaa ta dhaaba hayyootaatiif fi Lewwootaa attam akka ijaarante hubachiisa. Galma Waaqaa ka ijaare Solomoon te'ulle, hundee Galma Waaqaatii fi aadaa dhugeeffanna'aa ta waaqonfatiisaa ka hundeesse Daawiti akka te'e hima.

Haadhoo Dubbi'ii

Sanyii Addaamii ta haga mooticha Saa'olii1:9–9:44

Du'a Saa'olii10:1-14

Bulchiinsa Daawitii11:1–29:30

Rakko'oo fi Hujii11:1–22:1

Qophii Ijaarsa Galma Waaqaa22:2–29:30

Hidda Dhalootaa Addaamiitii Kaasee Haga Abrahaamii

(Dad. 5:1-32; 10:1-32; 11:10-26)

Haga Ilmaan Nohii

¹ Addaam abbaa Sheetii ti; Sheet abbaa Enoshii ti;

² Enoshi abbaa Qaayinaanii ti; Qayinaan abbaa Mahalalelii ti; Mahalalel abbaa Yaaredii ti;

³ Yaared abbaa Heenookii ti; Heenokii abbaa Matusaalaa ti; Matusaalaan abbaa Laamekii ti;

⁴ Laamekii abbaa Nohii ti; Nohi: Seemi, Kaamii fi Yaafet uumate.

Yaafetoota

⁵ Ilmaan Yaafetii: Gomer, Maagoog, Maada'i, Yaawaan, Tubaal, Meshekii fi Tiiraas.

⁶ Ilmaan Gomerii: Ashkenas, Riifaatii fi Togaarma'a.

⁷ Ilmaan Yaawaanii: Eliishaa, Tarshiish, Kitiimii fi Rodaaniim.

Kaamota

⁸ Ilmaan Kaamii: Kuushi, Misraayim, Fuxii fi Kana'aan.

⁹ Ilmaan Kuushii: Saabaa, Hawiilaa, Sabtaa, Ra'ima fi Sabteka'a. Ilmaan Ra'ima: Sheebaa fi Dedaan.

¹⁰ Kuushi, Niimrod uumate; Niimrod biyya lafaa keessatti loltuu jabaa qaraa te'e.

¹¹ Misraayim Ludiim, Anaamiim, Lehabiim, Naftuhiim,

¹² Fatrusiim, Kasluhiim abbaa worra Filisxeemotaatii fi Kaftoriim uumate.

¹³ Kana'aan Sidoon uumate; Sidoon ilma isaa angaficha; itti aansee Heet,

¹⁴ Yibus, Amooro, Girgaasho,

¹⁵ Hiiwo, Arqo, Siino,

¹⁶ Arwaado, Simaaroo fi Kamaato uumate.

Seemota

¹⁷ Ilmaan Seemii: Elaam, Ashuur, Arfaaksaad, Ludii fi Aaram. Ilmaan Aaramii: Uz, Hul, Geterii fi Meshek.

¹⁸ Arfaaksaad Shalaa uumate; Shalaan Ebeer uumate.

¹⁹ Ebeer ilmaan lama uumate; bara inni dhalate kolbaan biyya lafaa waan qoqoodanteef, maqaan ilma angafichaa, «Feleg*» jedhame; maqaan obboleessa isaalle Yoqxaan.

²⁰ Yoqxaan Almoodaad, Sheleef, Hasarmaawet, Yaaraa,

²¹ Hadoraam, Uzaal, Diqilaa,

²² Obaal, Abiimaa'el, Sheebaa,

²³ Ofiir, Hawiila'aa fi Yobaab uumate; isaan kun marti ilmaan Yoqxa'aa ti.

²⁴ Hiddi dhaloota Seemii irraa haga Abraamii ka asii gad jiru: Seem, Arfaaksaad, Shalaa,

²⁵ Ebeer, Feleg, Re'uu,

²⁶ Seruug, Naahor, Taaraa fi

²⁷ Abraam, ka duuba irra «Abrahaam» jedhame.

Ilmaan Abrahaamii

(Dad. 25:12-16)

²⁸ Ilmaan Abrahaam: Yisihaqii fi Ishimaa'el.

Sanyii Aggaarii

²⁹ Sanyiin isaanii ta asii gad jirtu: ilmi Ishimaa'elii angafichi Nabaayoo ti; achiin duuba Qedaar, Adbi'el, Miibsaam,

³⁰ Miishimaa, Dumaa, Maasaa, Hadaad, Temaa,

³¹ Yetuur, Nafiishii fi Qedima'a; isaan kun ilmaan Ishimaa'elii ti.

Sanyii Qexuura

³² Ilmaan Abrahaamii ta Qexuuraan gursumeettiin isaaf deette: Zimraan, Yokshaan, Medaan, Miidiyaan, Ishibaakii fi Shuwa'a. Ilmaan Yokshaanii: Sheeba'aa fi Dedaan.

³³ Ilmaan Miidiyaanii, Efaa, Efer, Henok, Abiida'aa fi Elda'aa. Isaan kun marti sanyii Qexuura'aa ti.

Sanyii Saara'aa

(Dad. 36:1-19)

³⁴ Abrahaam, Yisihaq uumate; ilmaan Yisihaqii, Esaawuu fi Yaaqoob; Yaaqoobiin kun ka duuba irra, «Israa'el» jedhame.

Ilmaan Esaawu'uu

³⁵ Ilmaan Esaawu'uu: Eliifaaz, Rewu'el, Ye'ush, Yaa'alamii fi Qoraahi.

³⁶ Ilmaan Eliifaazii: Temaan, Omaar, Zafoo, Gaataam, Qenaz; Tiimnaa irraa Amaaleqi uumate.

³⁷ Ilmaan Rewu'elii: Naahaat, Zeraa, Shama'aa fi Miiza'a.

Kolbaa Jalqaba Edoom Keessa Qubatte

(Dad. 36:20-30)

³⁸ Ilmaan Se'iirii: Loxaan, Shobaal, Zibe'on, Aannaa, Diishon, Ezerii fi Diishaan.

³⁹ Ilmaan Loxaanii: Hoorii fi Hemaam; obboleettiin Loxaanii Tiimna'a.

⁴⁰ Ilmaan Shobaalii: Alwaa, Manahaat, Ebaal, Shefoo fi Onaam. Ilmaan Zibe'onii: Ayyaa fi Aanna'a.

⁴¹ Ilmi Aanna'aa Diishon. Ilmaan Diishonii: Hemdaan, Eshibaan, Yitraanii fi Keraan.

* **1:19 Feleg:** Afaan Ibrootaatiin qoqoodamiisa jechu'u.

⁴² Ilmaan Ezerii: Bilhaan, Zaawaanii fi Aqaan. Ilmaan Diishaanii: Uzii fi Aaraan.

Mootota Lafa Edoonii
(Dad. 36:31-43)

⁴³ Kolbaa Israa'elii irratti mootiin tokkolle mootii te'ee adoo hin bulchiniin dura, moototi lafa Edoonii irratti mootii te'anee bulchane ka asii gad jiranu: Ilma Be'orii Belaa, ka maqaan qachaa isaa, «Diinhaabaa» jedhame.

⁴⁴ Yennaa Bel'aan du'e, ilmi Yobaabii Zeraan nami qachaa Bozra'aa addee isaatitti mootii te'ee bulche.

⁴⁵ Yennaa Yobaab du'e, Hushaam nami lafa Temaanaa addee isaatitti mootii te'e.

⁴⁶ Yennaa Hushaam du'e, ilmi Bedadii Hadaad ka lafa Mo'aabiititti worra Miidiyaanii injifate addee isaatitti mootii te'ee bulche; maqaan qachaa isaa, «Awiit» jedhama.

⁴⁷ Yennaa Hadaad du'e, nami biyya Masreqaa Samlaan addee isaatitti mootii te'ee bulche.

⁴⁸ Yennaa Samlaan du'e, nami biyya Rehobotii ka laga Efraaxiisii biraa Shaawul addee isaatitti mootii te'ee bulche.

⁴⁹ Yennaa Shaawul du'e, ilmi Akborii Ba'aal-Hanaan addee isaatitti mootii te'ee bulche.

⁵⁰ Yennaa Ba'aal-Hanaan du'e, Hadaad addee isaatitti mootii te'ee bulche; maqaan qachaa isaa Phaayi; maqaan haadha manaa isaa Mahexaabel; isiin intala Maxiredii akkoo Mezahabii ti.

⁵¹ Hadaadille du'e.

Worri lafa Edooniititti sooreyyii gosaa te'ane: Tiimnaa, Alwaa, Yetet,

⁵² Oholiibaamaa, Elaa, Phiinon,

⁵³ Qenaz, Temaana, Miibzaar,

⁵⁴ Magdii'elii fi Iraam. Isaan kun sooreyyii gosa Edoonii ti.

2

Ilmaan Israa'elii

¹ Ilmaan Yaaqoobii ka «Israa'el» jedhamee, ka asii gad jiranu: Ruuben, Shimi'oon, Lewwii, Yihudaa, Yisaakor, Zebuloon,

² Daan, Yoseef, Beniyaamin, Niftaalem, Gaadii fi Asheer.

Yihudaa

³ Ilmaan Yihuda'aa: Eer, Onaanii fi Shela'a. Isaan sadiin kana, dubartii biyya Kana'aanii ta, «Baat-Shuwaa» jedhantu irraa uumate; ilmi Yihuda'aa angafichi Eer Mootii Waan Maraa duratti nama hamaa waan te'eef, Mootiin Waan Maraa isa ijjeese.

⁴ Taamaar haati manaa ta ilma isaa ammoo Faaresii fi Zaaraa isaaf deette; Yihudaan wolumatti ilmaan shan qabaayyu.

⁵ Ilmaan Faaresii: Hezronii fi Hamul.

⁶ Ilmaan Zaara'aa: Ziimri, Etaan, Hemaan, Kalkoolii fi Darda'a. Isaan wolumatti nama shan.

⁷ Ilmi Karmii: Akaan ka waan ijjumaa balleeffamu'uu male hatee fudhati-isaan, Israa'el irratti rakkinna fide.

⁸ Ilmi Etaaniille Azaariya'a.

Hidda Dhaloota Maatii Mooticha Daawitii

⁹ Ilmaan Hezron uumate: Yeraami'el, Raamii fi Kaaleb.

¹⁰ Raam Aminaadaab uumate; Aminaadaabile soorressa kolbaa Yihuda'aa Nahasoon uumate.

¹¹ Nahasoon Salmoon uumate: Salmoon Bo'az uumate.

¹² Bo'az Obed uumate; Obed Isey uumate.

¹³ Isey ilmaan torba uumate; angafichi Eliiyaab, ka lammeesso'oo Abi-naadaab, ka sadeesso'oo Shimi'aa,

¹⁴ ka arfeesso'oo Nataani'el, ka shaneesso'oo Raadaayi,

¹⁵ ka jayeesso'oo Ozeem, ka torbeesso'oo Daawiti.

¹⁶ Obboleeyyan isaanii ta durraa Zeruya'aa fi Abigaayil.

Ilmaan Zeruya'aa sadiin: Abiishaayi, Yo'aabii fi Asaa'el.

¹⁷ Abigaayil Amaasaa deette; abbaan isaa «Yeter» ka jedhamu nama sanyii Ishimaa'elii ti.

Sanyii Kaalebii Ilma Hezronii

¹⁸ Ilmi Hezronii Kaaleb haadha manaa ifii Azuba'aa fi Yerii'ot irraa ilmaan uumate; ilmaan Azubaan isaaf deette: Yesher, Shobaabii fi Ardoon.

¹⁹ Azubaan duuteen duuba, Kaaleb Efraat fuudhe; isiin ilma maqaan isaa, «Huur» jedhame isaaf deette.

²⁰ Huur, Ur uumate; Ur, Bazaali'el uumate.

²¹ Achiin duuba Hezron yennaa woggaa jaatama guute, intala Maakiirii abbaa Giil'aadii fuudhee, isiin ilma maqaan isaa, «Seguub» jedhame isaaf deette.

²² Seguubille Yaa'iir uumate; Yaa'iir lafa Giil'aadii keessaa qachoota diddamii sad qabaayyu.

²³ Geshuurii fi Aaram ammoo Hawoot-Yaa'iir, Qenaatii fi olloota adaala isi'ii woliin qachoota jaatama irraa fudhatane. Isaan kun martinuu ka sanyii Maakiirii abbaa Giil'aadii ti.

²⁴ Hezron Kaaleb-Efraata'atti du'een duuba, haati manaa isaa Abiyyaan ilma isaa Ashuur abbaa biyya Tego'aa isaaf deette.

Sanyii Yeraami'elii Ilma Hezronii

²⁵ Ilmi angafichi Hezronii Yeraami'el ilmaan jaa qabaayyu; ilmi isaa angafichi Raam; ka isatti aananu Bunaa, Oreen, Ozeemii fi Ahiiya'a.

²⁶ Yeraami'el haadha manaa dhibii ta, «Ataaraa» jedhantu qabaayyu; isiin haadha Onaamii ti.

²⁷ Ilmaan Raamii ka ilma angaficha Yeraami'elii: Maa'aaz, Yaamiinii fi Eker.

²⁸ Ilmaan Onaamii: Shaamaayii fi Yaada'a. Ilmaan Shaamaayii: Naadaabii fi Abiishur.

²⁹ Maqaan haadha manaa Abiishurii Abiishaayil. Isiin Ahibaanii fi Moliid isaaf deette.

³⁰ Ilmaan Naadaabii: Seleedii fi Aphaayim. Seleed ijoollee adoo hin uumatin du'e.

³¹ Aphaayim Yishii uumate. Yishiin Sheshaanin uumate. Sheshaan Ahilaayin uumate.

³² Ilmaan Yaadaa obboleessa Shaamaayii: Yeterii fi Yonaataan. Yeter ijoollee adoo hin uumatin du'e.

³³ Ilmaan Yonaataanii: Pheletii fi Zaaza'a. Isaan kun sanyii Yeraami'elii ti.

³⁴ Sheshaan ijoollee durraa qofa qaba malee, ilmaan hin qabu; garuu nama biyya Gibxi'ii ka maqaan isaa, «Yarhaa» jedhamu garbicha tokko qabaayyu.

³⁵ Maarre Sheshaan intala ifi garbicha ifi Yarhaa heerumsiise; isiin Ataayin isaaf deette.

³⁶ Aataayi, Naataan uumate. Naataan Zaabaad uumate.

³⁷ Zaabaad, Eflaali uumate. Eflaal, Obed uumate.

³⁸ Obed, Yehuu uumate. Yehuun, Azaariyaa uumate.

³⁹ Azaariyaan, Helez uumate. Helez, El'aasaa uumate.

⁴⁰ El'aasaan, Siismaay uumate. Siismaay, Shaalum uumate.

⁴¹ Shaalum, Yeqaamiyaa uumate. Yeqaamiyaan, Eliishaamaa uumate.

Sanyii Kaalebii Ta Dhibii

⁴² Ilma angaficha Kaalebii, obboleessa Yeraami'elii, maqaan isaa Mesha'a. Meshaan, Ziif uumate. Ziif, Mareshaa uumate. Mareshaan, Kebroon uumate.

⁴³ Ilmaan Kebroonii: Qoraahi, Taaphuwaa, Regemii fi Shema'a.

⁴⁴ Shemaan, Raaham uumate. Raaham, Yorge'aam uumate. Regem, Shaamaay uumate.

⁴⁵ Shaamaay, Maa'on uumate. Maa'on, Betzuur uumate.

⁴⁶ Kaaleb gursumeettii, «Efaa» jedhantu takka qabaayyu. Isiin Haaraan, Moza'aa fi Gaazez isaaf deette. Haaraanille ilma, «Gaazez» jedhamu uumate.

⁴⁷ Ilmaan Yaahidaayii: Regem, Yotaam, Geshaan, Phelet, Efa'aa fi Sha'aaf.

⁴⁸ Gursumeettiin Kaalebii ta dhibiin ta «Ma'aan» jedhantu: Sheberii fi Tirhaanaa isaaf deette.

⁴⁹ Isiin dhuma irratti ilmaan lama: Abbaa qachaa Madmaanaatii Sha'aaf fi abbaa qachaa Makbenaatii fi Giibe'aa Shewaa isaaf deette. Kaaleb intala, «Aksaa» jedhantulle qabaayyu.

⁵⁰ Isaan kun sanyiin Kaalebii ti.

Kaaleb haadha manaa ifii Efraataa irraa ilma isi'ii angaficha Huur uumate. Ilmaan Huurii keessaa Shobaal, Kiriiyat-Ya'ariim uumate.

⁵¹ Salmoon, Betlihem uumate; Haareef, Betgaader uumate.

⁵² Sanyiin Shobaalii abbaa Kiriiyat-Ya'ariimii: Haro'ehiti, gamisa gosa Menuhoototaa ti

⁵³ Gosi Kiriiyat-Ya'ariimii keessa leetu: Yetroota, Phutoota, Shumaatotaa fi Miishirota; Zoraatotaa fi Eshtaaloti gosuma worra kanaa ti.

⁵⁴ Sanyiin Salma'aa: Betlihem, Netofaatota, Atrot-Bet-Yo'aab, gamisa gosa Maanaheetotaa, Zoraatotaa,

⁵⁵ gosa barreessitootaa worra qachaa Yaabezii keessa le'u: Tiraasitoota, Shime'aatotaa fi Sukaatota; isaan kun Qenoota worra Hemaatii ka gosa Rekaabii ti.

3

Sanyii Mooticha Daawitii

¹ Ilmaan Daawiti yennaa Kebroon keessa jiru uumate, ta asii gad jirtu: ilmi angafichi Amnoon, ka Ahiino'aamii Yizre'elittii irraa uumate; ka lammeesso'oo Daani'el, ka Abigaayilii Karmelittii irraa uumate.

² Ka sadeesso'oo Abiishaalom, ka inni Ma'akaa intala Talmaayii mooticha Geshuurii irraa uumate; ka arfeesso'oo Adoniya'a; ka inni Haagiiti irraa uumate;

³ ka shaneesso'oo Shefaaxiya'a; ka inni Abiixaal irraa uumate; ka jayeesso'oo Yitre'aam; ka inni haadha mana ifii Eglaa irraa uumate.

⁴ Isaan jaan kun addee inni keessa tee'ee woggaa torbaa fi ji'a jaa bulchetti Kebroon keessatti isaaf dhalatane.

Inni Yersaalem keessa tee'ee woggaa soddonii sad bulche.

⁵ Ilmaan inni Yersaalem keessatti uumate ka asii gad jiranu: Shime'aa, Shobaab, Naataanii fi Solomoon; isaan arfan kana intala Amii'elii Baat-Sheebaa irraa uumate.

⁶ Inni ilmaan dhibiille Yiibhaar, Eliishuwaa, Eliifaalet,

⁷ Nogaa, Nefeg, Yaafii'aa,

⁸ Eliishaamaa, Eliyaadaa fi Eliifelex, wolumatti ilmaan sagal qabaayyu.

⁹ Ilmaan gursumeeyyi'ii adoo hin laakkowamin, isaan kun marti ilmaan Daawitii ti; obboleettiin isaaniille Taamaar.

Mootota Yihuda'aa

¹⁰ Ilmi Solomoonii Rehobiyaam; ilmi Rehobiyaamii Abiiya'a; ilmi Abiiya'aa Aasa'a; ilmi Aasa'aa Yoshaafaax; ilmi Yoshaafaaxii,

¹¹ Yoraam; ilmi Yoraamii Ahaaziya'a; ilmi Ahaaziya'aa Yo'aas;

¹² ilmi Yo'aasii Amaasiya'a; ilmi Amaasiya'aa Azaariya'a; ilmi Azaariya'aa Yotaam;

¹³ ilmi Yotaamii Ahaazi; ilmi Ahaazii Hisqiyaasi; ilmi Hisqiyaasii Minaase'e;

¹⁴ ilmi Minaase'ee Amooni; ilmi Amoonii Yosiyaas.

¹⁵ Ilmaan Yosiyaasii angafichi Yohaannaan; ka lammeesso'oo Yehoyaaqiiim; ka sadeesso'oo Zedeqiiya'a; ka arfeesso'oo Shaalum.

¹⁶ Ilmaan Yehoyaaqiiimii: Yehoyaakiinii fi Zedeqiiya'a.

Sanyii Yehoyaakiinii Mootichaa

¹⁷ Ilmaan Yehoyaakiinii mootichaa ka worri Baabilonii booji'e She'altii'el,

¹⁸ Malkiiraam, Phedaayaa, Shenaazaar, Yeqaamiyaa, Hoshaama'aa fi Nedaabiya'a.

¹⁹ Ilmaan Phedaaya'aa: Zarubaabelii fi Shime'i; ilmaan Zarubaabelii: Meshulaamii fi Hanaaniya'a; obboleettiin isaaniille Shelomiit.

²⁰ Inni ilmaan dhibiille shan qaba; isaanille: Hashubaa, Ohel, Berekiiyaa, Hasadiya'aa fi Yushaab-Hesed.

²¹ Ilmaan Hanaaniya'aa: Phelaatiya'aa fi Yeshaa'iyaa; Yeshaa'iyaa Re'faayaa uumate; Refaayaan Arnaan uumate; Arnaan Obaadiyaa uumate; Obaadiyaan Shekaaniyaa uumate.

²² Ilmi Shekaaniya'aa Shemaa'iyaa. Ilmaan Shemaa'iyaa: Haxushi, Yigaa, Baariihaa, Na'ariiya'aa fi Shaafaax; isaan wolumatti jaa.

²³ Ilmaan Na'ariiya'a: Elyo'enaayi, Hisqiyaasii fi Azriiqaam; isaan wolumatti sad.

²⁴ Ilmaan Elyo'enaayi: Hodaawiyaa, Eliyaashiib, Phelaayaa, Aquub, Yohaannaan, Delaaya'aa fi Anaani; isaan wolumatti torba.

4*Sanyii Yihuda'aa*

¹ Ilmaan Yihuda'aa: Faares, Hezron, Karmi, Huurii fi Shobaal.

² Ilmi Shobaalii Re'aayaan Yaahaat uumate; Yaahaat Ahumaayyii fi Lahadi uumate; isaan kun fira Zoraatotaa ti.

³ Ilmaan Etaamii: Yizre'el, Yishma'aa fi Yidbaash; maqaan obboleettii isaanii Hazelelphon.

⁴ Phenu'el Gidoor uumate; Ezer Hushaa uumate. Isaan kun ilmaan ilma angaficha Efraata'aa, abbaa qachaa Betlihemii ka te'e, sanyii Huurii ti.

⁵ Ashuur abbaan Tego'aa, niitii lama Hela'aa fi Na'araa qaba.

⁶ Na'araan Ahuzaam, Hefer, Teyimenii fi Haa'ashtaar isaaf deette. Isaan kun ilmaan Na'araa ti.

⁷ Ilmaan Hela'aa: Zeret, Yezohaarii fi Etnaan.

⁸ Koz abbaa Anubiitii fi Zobeba'aa ti; abbaa fira sanyii Aariihelii ilma Harumii ti.

⁹ Yaabez obboleeyyan ifi caalaa nama ulfinna qabu. Haati isaa, «Ani ciniinsuu jaddu'uun isa deyeera» jedhiisaan, maqaa isaa, «Yaabez» jette.

¹⁰ Yaabez, «Magganne'ee, na eebbisi; lafa badhoolle naa kenni. Harki keeti na woliin jiraatuu ti; akka isiin farra natti hin finne waan hantuu irraa na eegi» jedhee, Waaqa Israa'elii gaafate. Waaqille waan inni gaafate isaaf kenne.

¹¹ Obboleessi Shuka'aa Keluub, abbaa Eshtoonii Maakiir uumate.

¹² Eshtoon ilmaan sad: Betraafaa, Phaaseha'aa fi Tehiinaa uumate. Tehiinaan abbaa Ir-naahaashii ti. Isaan worra qachaa Reka'aa keessa le'e.

¹³ Qenazii ilmaan lama: Otnii'elii fi Seraayaa uumate. Otnii'elille ilmaan lama: Katatii fi Me'onotaayi uumate.

¹⁴ Me'onotaayi, Ofraa uumate. Seraayaan, abbaa qachaa «Geharaashim*» jedhamuu, ka worri hujii harkaa huju keessa le'u, Yo'aab uumate; Yo'aab Geharaashimi uumate; isaan kun worra hujii harkaa beeku waan te'aneef maqaa kanaan waamane.

¹⁵ Ilmi Yofune'ee Kaaleb ilmaan sad: Iiruu, Ela'aa fi Naa'aam uumate. Elaan Qenaz uumate.

¹⁶ Yihaleli'el ilmaan afur: Ziif, Ziifaa, Tiiriiya'aa fi Asaare'el uumate.

¹⁷ Izraan ilmaan afur: Yeter, Mered, Eferii fi Yaalon uumate. Isaan kun ilmaan Betiyaa intala mooticha Gibxi'ii ta Mered fuudhee ti; isiin ulfoottee Miiryaam, Shaamaayii fi Iishiba abbaa Eshtemo'aa isaaf deette.

¹⁸ Niitiin isaa Yihudittiin: Abbaa Gedoorii Yered, Abbaa Sokoo Heber, Abbaa Zaano'aa Yekutii'el isaaf deette. Isaan kun ilmaan intalti Fara'oonii Biitiyaan ta Mered fuudhe deette.

¹⁹ Ilmaa niitii Hodiiyaa ta obboleettii Nahaamii Qeyilaa abbaa Gaarimiitii fi Eshtemo'aa Ma'akichaa ti.

²⁰ Ilmaan Shimoonii: Amnoon, Riinaa, Benhaanaanii fi Tiilon; ilmaan Yishii: Zoheetii fi Ben-Zoheeti.

²¹ Ilmaan Shelaa ilma Yihuda'aa: Abbaa Lekaa Eer, abbaa Maresha'aa La'aada'aa fi worra woyaa quncee talba'aa dansaa irraa hujante ta qachaa Bet-Ashbe'aatii keessatti hujuu,

²² Yoqiim, namoota qachaa Kozeba'aa, Yo'aasii fi Saaraaf ka Mo'aab bulche, Yaashub Lehem fa'a. [Barreeffam kun ka durii ti.]

²³ Isaan kun worra faara dhowu ka qachaa Nexaayimiitii fi Gedera'aa keessa le'u. Isaan achi le'anee mooticha tajaajilane.

Sanyii Shimi'oonii

²⁴ Ilmaan Shimi'oonii: Nemu'el, Yaamiin, Yaariib, Zera'aa fi Shaawul.

²⁵ Shaawul Shaalum uumate; Shaalum Miibsaam uumate; Miibsaam Miishimaa uumate.

²⁶ Sanyii Mishma'aa: Miishimaan Hamu'el uumate; Hamu'el Zaakur uumate; Zaakur Shime'i uumate.

²⁷ Shime'i ilmaan kudhanii jaa fi ijoollee durraa jaa uumate; obboleeyyan isaa ijoollee hedduu hin uumanne; firri isaanii martinuu akka kolbaa Yihuda'aa hin horre.

²⁸ Qachooti sanyiin Shime'ii keessa le'ane: Bersheebaa, Molaadaa, Hazarshuwaal,

²⁹ Bilhaa, Ezem, Tolaad,

³⁰ Betu'el, Hormaa, Siiqlaag,

³¹ Bet-Markaboot, Hazaarsusiim, Bet-Bire'ii fi Sha'araayii; haga bara Daawiti mootii te'ee bulchetti isaan qachoota kana keessa le'ane.

³² Ollooti isaanii shan ka adaala qachoota kanaa jiranu: Etaam, Aayin, Rimoon, Tokkeenii fi Ashaan,

³³ haga qachaa Ba'aalaatiititti ollooti dhibiille hin jiran. Qachooti kun addee isaan keessa qubatanee fi addee isaan galmee hidda dhaloota ifii itti maffatane.

³⁴ Sooressitooti abbootii fira isaanii: Meshobaab, Yaamlek, ilma Yosha'aa Amaasiyaa,

³⁵ Yo'el, abuuboo Yoshiibiyaa, akaakoo Seraayaa ilma Asii'elii Yehuu,

* **4:14** *Geharaashim: Afaan Ibrootaatiin Dhooqa worri hujii harkaa beeku keessa le'u jechu'u.*

³⁶ Elyo'enaayi, Ya'aqobaa, Yishohaayaa, Ashaayaa, Adii'el, Yesiimii'el, Be-naayaa,

³⁷ ilma Shiifii Ziizaa, Ziiza ka Aalonii, Aalon ka Yedaa'iyaa, Yedaa'iyaan ka Shiimrii, Shiimri ka Shemaa'iyaa ti.

³⁸ Worri maqaan isaanii dhowame kun fira isaanii keessatti worra qondaaltota te'ane; sanyiin fira isaanii guddoo horte.

³⁹ Isaan horii ifitiif marra barbaadatiisaaf, dhooqa san karaa aduun baatu haga seensuma Gedoorii ideemanee,

⁴⁰ achitti horii ifitiif marra bisilee dansaa dhaggatane; latti sun lafa akka malee badhoo sarmaa fi nageya qaddu; sanyiin Kaamii dur achi qubatteertiiyyu.

⁴¹ Worri maqaan isaanii barreeffame kun bara Hisqiyaas mootii Yihuda'aa te'eeru dhufanee, sanyii Kaamii lolanee dunkaanii isaanii diigane balleessanee, worra Me'unootaa ka achi jiranulle ijumaa balleessane; tunille haga adhaatitti beekkanteerti; isaan horii ifitiif marra achitti waan dhaggataneef, addee kolbaa saniititti qubatane.

⁴² Sanyii Shimi'oonii keessaa gariin namooti dhibbi shan, ilmaan Yishii: Phelaatiyaa, Ne'aariyaa, Refaayaa fi Uzii'el fa'a sooreyyii godhatanee biyya koobittii Se'iirii qabatane.

⁴³ Amaaleqoota miliqanee hafanelle ijjeesanee, haga adha achi le'ane.

5

Sanyii Ruubenii

¹ Sanyiin Ruubenii ilma angaficha Israa'elii isaan kana: Ruuben ilma angaficha; ammoo waan inni gursumeettii abbbaa ifi takka woliin rafee rifanoo abbaa ifii batteeseef, angafummaan isaa ijoollee Yoseefii obboleessa isaatiif kennante; tanaaf hiddi dhaloota isaa akka angafummaa isaatiitti hin barreeffanne.

² Yihudaan obboleeyyan ifii caalaa jabaa te'ee, bulchaan sanyii isaa keessaa dhufulle, angafummaan Yoseefiif kennante.

³ Ilmaan Ruubenii ilma angaficha Israa'elii: Henok, Faluu, Hezronii fi Karmi.

⁴ Ilmaan Yo'elii: Shemaa'iyaa, Googi, Shime'i,

⁵ Miikaa, Re'aayaa, Ba'aal,

⁶ Be'era ka mootichi Asoorii Tiiglaat-Phileeser booji'ee ideeme. Be'eraan soressa fira Ruubenii ti.

⁷ Hiddi dhaloota maatii isaa gosuma gosaan galmeeffamaneeran; isaan kunille bulchaa isaanii Yeyi'el, Zakaariyaas,

⁸ abuuboo Yo'elii akaakoo Shema'aa ilma Azaazii Bela'a. Isaan kun lafa adaala qachaa Aro'eriitii jalqabane karaa kaabaatiin haga Nebootii fi haga Ba'aal-Me'oniititti qubatane.

⁹ Horiin isaanii lafa Giil'aadii keessatti waan horeef, isaan karaa aduun baatu, seensuma lafa goomole'eetii haga laga Efraaxiisii qabatane.

¹⁰ Bara Saa'ol mootii te'eeru, isaan fira Hagaarii lolanee injifatanee, addee isaan le'anuu lafa Giil'aadii karaa aduun baatu mara qabatane.

Sanyii Gaadii

¹¹ Sanyiin Gaadii lafa fuullee isaanii haga Saalka'aatitti lafa Baashaanii keessa leete.

¹² Bulchaan guddaan Yo'el; ka lammeesso'oo Shaafaam; achiin duuba Yaanaayii fi Shaafaaxille Baashaan keessa le'ane.

¹³ Obboleeyyan isaanii akka maatii isaaniititti: Mikaa'el, Meshulaam, Sheebaa, Yoraay, Yaakaan, Zii'aa fi Ebeer; isaan wolumatti torba.

¹⁴ Isaan kun Sanyii Abiihaayilii ti: Abiihaayil ka Huurii, Huur ka Yaarokaa, Yaaroka ka Giil'aadii, Giil'aad ka Mikaa'elii, Mikaa'el ka Yeshiishaayii, Yeshi-ishaay ka Yaakedoo, Yaakedo ka Buusii ti.

¹⁵ Akaakoon Gunii, ilmi Abdi'elii Ahi, sooreessa maatii isaanii ti.

¹⁶ Isaan lafa Giil'aadii keessa, Baashaan keessaa fi qachoota isi'ii keessa, lafa horii tiffatanu Shaaronii haga qaccee isi'ii mara keessa le'ane.

¹⁷ Isaan kun martinuu bara Yotaam mootii Yihuda'aa te'eeruu fi bara Yerobi'aam mootii Israa'elii te'eerutti kitaaba dabarsii hidda dhalootaa keessatti barreeffamane.

Loltoota Gosa Karaa Aduun Baatuu

¹⁸ Gosi Ruubenii, gosi Gaadiitii fi gamisi gosa Minaase'ee, loltoota worra wonte'een, shallaaga'aa fi guube'een loliisaaf akka dansaa leenjifamane, kuma afurtamii afurii fi dhibba torbaa fi jaatama qaban.

¹⁹ Isaan gosa Hagaarii, gosa Yetuurii, gosa Naafiishiitii fi gosa Nodaabii dhaqanee lolane.

²⁰ Isaan Waaqatti addatanee, isa daadimatane, qarqaarsa yennaa isa gaafatane, inni isaaniif dhage'ee, Hagaarotaa fi worra isaan woliin jiru harka isaaniititti dabarsee kenne.

²¹ Isaan horii Hagaarotaa gaalota kuma shantama, hoolee kuma dhibba lamaa fi kuma shantama, harree kuma lamaa fi namoota kuma dhibba tokko booji'anee fudhatane.

²² Lolli sun fedha Waaqaatiin waan te'eef, namooti hedduun ijjeefamane; worri injifatee lafa san qabate, haga bara ifiifuu booji'amaneeitti lafuma san keessa le'ane.

Kolbaa Gosa Minaase'ee Ta Karaa Aduun Baatuu

²³ Kolbaan gamisa gosa Minaase'ee bacaan ta karaa aduun baatuu, Baashaanii haga Ba'aal-Hermoonii, haga Seniiriitii fi haga gaara Hermooniiitti qubatanee le'ane.

²⁴ Sooreyyiin gosa isaanii: Efer, Yishe'ii, Elii'el, Azrii'el, Ermiyaas, Ho-daawiya'aa fi Yaadii'el. Isaan kun loltoota gootota, namoota beekkamanee fi sooreessitoota gosa isaanii ti.

²⁵ Te'uu malee isaan Waaqa abbootii ifiititti addatiisa lakkisanee, waaqota kolbaa lafa sanii ta Waaqi fuula isaanii duraa balleessee waaqonfatane.

²⁶ Maarre Waaqi Israa'elii, mooticha Asoorii Phul ka, «Tiiglaat-Phileeser» jedhamu isaanitti kaasee, inni fira Ruubenii, fira Gaadiitii fi gamisa gosa Minaase'ee booji'ee, gara Kalaa, gara Kaaborii, gara Haaraatii fi gara laga Gozaanii lafa haga adhaa isaan keessa jiranu isaan geesse.

6

Sanyii Lewwi'ii

¹ Ilmaan Lewwi'ii: Gershoon, Qehaatii fi Meraar.

² Ilmaan Qehaatii: Amraam, Yizhaar, Kebroonii fi Uzii'el.

³ Ijoolleen Amraamii: Aaron, Muuse'ee fi Miiryaam. Ilmaan Aaronii: Naadaab, Abiihuu, Ele'azaarii fi Itaamaar.

⁴ Ele'azaar Fiinehaas uumate; Fiinehaas Abiishuwaa uumate;

⁵ Abiishuwaan Buki uumate; Buki Uzi uumate;

⁶ Uzi Zeraayaa uumate; Zeraayaan Meraayoot uumate;

⁷ Meraayoot Amaariyaa uumate; Amaariyaan Ahiixub uumate;

⁸ Ahiixub Zaadoq uumate; Zaadoq Ahimaaz uumate;

⁹ Ahimaaz Azaariyaa uumate; Azaariyaan Yohaannaa uumate;

¹⁰ Yohaannaan Azaariyaa uumate; Azaariyaan kun ka hayyicha te'ee, Galma Waaqaa ka Solomoon Yersaaleemitti ijaare keessa tajaajile.

- ¹¹ Azaariyaan Amaariyaa uumate; Amaariyaan Ahiixub uumate;
¹² Ahiixub Zaadoq uumate; Zaadoq Shaalum uumate;
¹³ Shaalum Hilqiiyaa uumate; Hilqiiyaan Azaariyaa uumate;
¹⁴ Azaariyaan Seraayaa uumate; Seraayaan Yozaadaaq uumate;
¹⁵ Yennaa Mootiin Waan Maraa, kolbaa Yihuda'aatii fi Yersaaleemii harka Nebukadnezaariititti akka booji'antu godhe, Yozaadaaqille isaan woliin booji'amee deeme.
¹⁶ Ilmaan Lewwi'ii: Gershoom, Qehaatii fi Meraar.
¹⁷ Maqaan ilmaan Gershoomii: Liibnii fi Shime'i.
¹⁸ Ilmaan Qehaatii: Amraam, Yizhaar, Kebroonii fi Uzii'el.
¹⁹ Ilmaan Meraarii: Maahilii fi Mushi. Firri Lewwootaa akka fira abbootii isaaniititti ka asii gad jiranu.
²⁰ Fira Gershoomii: Gershoom Liibni uumate; Liibni Yaahaat uumate; Yaahaat Ziimaa uumate;
²¹ Ziimaan Yo'aa uumate; Yo'aan Iddo uumate; Iddo Zeraa uumate; Zeraan Ye'ateraayi uumate.
²² Sanyii Qehaatii: Qehaat, Aminaadaab uumate; Aminaadaab, Qoraahi uumate; Qoraahi, Asiir uumate;
²³ Asiir, Elqaanaa uumate; Elqaanaan, Ebiyaasaaf uumate; Ebiyaasaaf, Asiir uumate;
²⁴ Asiir, Tahaat uumate; Tahaat, Urii'el uumate; Urii'el, Uziyaa uumate; Uziyaan, Shaawul uumate.
²⁵ Ilmaan Elqaanaa Amaasaayii fi Ahiimoot.
²⁶ Ahiimoot Elqaanaa uumate; Elqaanaan Sofaayi uumate; Sofaayi Naahaat uumate;
²⁷ Naahaat El'aab uumate; El'aab Yerohaam uumate; Yerohaam Elqaanaa uumate.
²⁸ Ilmaan Saamu'elii, angafichi Yo'el, ka lammeesso'oo Abiiya'a.
²⁹ Meraar Maahil uumate; Maahil Liibni uumate; Liibni Shime'i uumate; Shime'i Uzaa uumate;
³⁰ Uzaan Shime'aa uumate; Shime'aan Hagiiyaa uumate; Hagiiyaan Asaayaa uumate.

Faarsitoota Galma Waaqaa

- ³¹ Saanduqi Gondooro'oo Galma Waaqaatitti galeen duuba, namooti mootichi Daawiti Galma Waaqaa keessatti itti gaafatantoota faarsitootaa akka te'anu godhe asii gad jiran.
³² Isaan haga bara Solomoon Yersaalemitti Galma Waaqaa ijaareetitti, akkuma ajaja isaaniif kennameetitti, balbala Dunkaanii Woldeenna'aa duratti faaru'uun tajaajilane.
³³ Namooti ilmaan ifii woliin tajaajilane asii gad jiran: Fira Qehaatii keessaa, faarfataa Hemaan; inni ilma Yo'elii ti; Yo'el ka Saamu'elii,
³⁴ Saamu'el ka Elqaana'aa, Elqaanaan ka Yerohaamii, Yerohaam ka Elii'elii, Elii'el ka To'aa,
³⁵ To'a ka Zuufii, Zuuf ka Elqaana'aa, Elqaanaan ka Mahaatii, Mahaat ka Amaasaayii,
³⁶ Amaasaayi ka Elqaana'aa, Elqaanaan ka Yo'elii, Yo'el ka Azaariya'aa, Azaariyaan ka Sefaaniya'aa,
³⁷ Sefaaniyaan ka Tahaatii, Tahaat ka Asiirii, Asiir ka Ebiyaasaafii, Ebiyaasaaf ka Qoraahii,
³⁸ Qoraahi ka Yizhaar, Yizhaar ka Qehaatii, Qehaat ka Lewwi'ii, Lewwiin ka Israa'elii* ti.

* 6:38 *Israa'el*: Dur maqaan isaa Yaaqoob.

³⁹ Obboleessi isaa Asaaf, gara midda isaatiin dhaabbatee tajaajilaayyu. Asaaf ilma Berekiiya'aa ti; Berekiiyaan ka Shime'aa,

⁴⁰ Shime'aan ka Mikaa'elii, Mikaa'el ka Ba'aseya'aa, Ba'aseya'aan ka Malki-
iya'aa,

⁴¹ Malkiiyaan ka Etnii, Etni ka Zera'aa, Zeraan ka Adaaya'aa,

⁴² Adaayaan ka Eyitaanii, Eyitaan ka Ziima'aa, Ziimaan ka Shime'ii,

⁴³ Shime'i ka Yaahaatii, Yaahaat ka Gershoomii, Geshoom ka Lewwi'ii ti.

⁴⁴ Fira Meraarii keessaa worri gara bita'aatiin isaan woliin jiru: Etaanii ilma Qiishii ti. Qiish ka Abdii, Abdi ka Maluukii,

⁴⁵ Maluuk ka Hashabiiya'aa, Hashabiiyaan ka Amaasiya'aa, Amaasiyaan ka Hilqiiya'aa,

⁴⁶ Hiiqiiyaan ka Amzii, Amzi ka Baanii, Baan ka Shaamerii,

⁴⁷ Shaamer ka Maahilii, Maahil ka Mushii, Mushi ka Meraarii, Meraar ka Lewwi'ii ti.

⁴⁸ Lewwooti dhibiin, dunkaanii dhugaa bayaa ta Galma Waaqaa keessa hujii dhibii mara akka hujanu ramadamane.

Sanyii Aaronii

⁴⁹ Tajaajilaan Mootii Waan Maraa Muuseen akkuma ajajetti Aaronii fi sanyiin isaa, Israa'eliif gumaa cubbu'uu tolchiisaaf, hujii Addee Irra Caalaa Woyyittii keessatti hujantu maraaf, kennansa addee ciinca'aa irratti gubamu fi kennansa addee hixaanni itti aarfamu irratti dhikaatuufille itti gaafatantoota te'ane.

⁵⁰ Hiddi dhaloota sanyii Aaronii ta asii gad jirtu: Aaron Ele'azaar uumate; Ele'azaar Fiinehaas uumate; Fiinehaas Abiishuwaa uumate;

⁵¹ Abiishuwaan Buki uumate; Buki Uzi uumate; Uzi Zeraayaa uumate;

⁵² Zeraayaan Meraayoot uumate; Meraayoot Amaariyaa uumate; Amaariyaan Ahiixub uumate;

⁵³ Ahiixub Zaadoq uumate; Zaadoq Ahimaaz uumate.

Lafa Lewwooti Qubatane

⁵⁴ Hixaan qaraa, sanyii Aaronii keessaa fira Qehaatiitiif waan bu'eef, latti isaaniif kennante ta asii gad jirtu:

⁵⁵ Kutaa lafa fira Yihuda'aa keessaa qachaan Kebrooniitii fi latti tikaa ta adaala qachaa Kebroonii marti isaaniif kennante.

⁵⁶ Latti ficha'aa ta adaala qachaa Kebrooniitii fi ollaan adaala qachaa Kebroonii ilma Yofune'ee Kaalebiif kennante.

⁵⁷ Sanyiin Aaronii akka itti baqatanuuf qachooti isaaniif kenname: Kebroon, Liibnaa, Yaatiir, Eshtemo'aa,

⁵⁸ Hiilen, Deebir,

⁵⁹ Aashaanii fi Bet-Shemeshi lafa tikaa ta adaala isaanii woliin.

⁶⁰ Qooda lafa fira Beniyaaminii keessalle'ee qachooti: Gebaa, Alemetii fi Anaatoti lafa tikaa ta adaala isaanii woliin isaaniif kennamane. Qachooti fira isaanii wolumatti qachoota kudhanii sad.

⁶¹ Fira Qehaatii worra hafeefille, qooda lafa gamisa fira Minaase'ee keessaa qachooti kudhan kennamaneef.

⁶² Fira Gershoomiitiif akka maatii maatii isaaniititti, kutaa lafa fira Yisaakorii, lafa fira Asheerii, lafa fira Niftaalemii keessaa, lafa gamisa fira Minaase'ee ta Baashaan keessaa keessalle'ee, qachooti kudhanii sad kennamaneef.

⁶³ Fira Meraariitiifille akka maatii maatii isaaniititti lafa Ruubenii, lafa Gaadiitii fi lafa Zebuloonii keessaa qachooti kudhanii lama kennamaneef.

⁶⁴ Akka kanaan kolbaan Israa'elii qachootaa fi lafa tikaa ta adaala qachoota sanii jirtu Lewwootaaf kennane.

⁶⁵ Qachoota gosa Yihuda'aa, gosa Shimi'ooniitii fi gosa Beniyaamii keessaa ka maqaan dhowame kana hixaa buusiisaan isaaniif kennane.

⁶⁶ Fira Qehaatii keessaa gariin, kutaa lafa gosa Efreem keessaa qachootaa fi lafa tikaa ta adaala qachoota sanii fudhataneeraniyyu.

⁶⁷ Isaan lafa koobittii Efreemii keessaa qachoota nami nama ijjeese itti baqatu Sheekem, Gezer,

⁶⁸ Yaaqmi'aam, Bet-Horoon,

⁶⁹ Ayalon, Gaat-Rimoon, lafa tikaa ta adaala isaanii mara waliin isaaniif kennamane.

⁷⁰ Lafa gamisa gosa Minaase'ee keessaa, qachaa Aaneriitii fi qachaa Bi-ile'aamii, lafa tikaa ta adaala qachoota sanii waliin fira Qehaatii worra hafeef kennane.

⁷¹ Gosi Gershoomii, kutaa lafa gamisa gosa Minaase'ee keessaa qachoota: Golaan ka Baashaan keessaatii fi Eshtaarot lafa tikaa ta adaala isaanii waliin fudhatane.

⁷² Lafa gosa Yisaakorii keessalle'ee qachoota; Qedeesh, Daaberaat,

⁷³ Raamootii fi Aanem, lafa tikaa ta adaala isaanii waliin fudhatane.

⁷⁴ Lafa gosa Asheerii keessaa qachoota: Maashaal, Abdoon,

⁷⁵ Huqooqii fi Rehoob lafa tikaa ta adaala isaanii waliin fudhatane.

⁷⁶ Lafa fira Niftaalemii keessalle'ee qachoota: Qedeeshii ka Galiilaa keessaa, Haamonii fi Kiriyyat-Aayim lafa tikaa ta adaala isaanii waliin fudhatane.

⁷⁷ Gosi Meraarii worri hafe, lafa gosa Zebuloonii keessaa qachoota: Rimoonii fi, Taabor lafa tikaa ta adaala isaanii waliin,

⁷⁸ laga Yordaanosiitiin gamaa, Yerikoo irraa karaa aduun baatuun, lafa gosa Ruubenii keessaa, qachoota goomolee keessaa Bezer, Yaahizaa,

⁷⁹ Qedemootii fi Mefaat lafa tikaa ta adaala isaanii waliin fudhatane.

⁸⁰ Lafa gosa Gaadii ka Giil'aad keessatti dhaggamanu keessalle'ee qachoota: Raamoot, Mahanaayim,

⁸¹ Heshiboonii fi Yaazer lafa tikaa ta adaala isaanii waliin fudhatane.

7

Sanyii Yisaakorii

¹ Ilmaan Yisaakorii afur: Tolaa, Phuwaa, Yaashubii fi Shimroon.

² Ilmaan Tola'aa: Uzii, Refaayaa, Yerii'el, Yaahimaay, Yibsaamii fi Shemu'el; isaan loltoota gootota sooressitoota gosa maatii Tolaa ti. Bara mootummaa Daawitii keessa sanyiin isaanii kuma diddamii lamaa fi dhibba jaa.

³ Ilmi Uzii, Yizraahiya'a. Ilmaan Yizraahiya'aa: Mikaa'el, Obaadiyaa, Yo'elii fi Yishiiya'a; isaan shanan kun martinuu sooreyyi'i.

⁴ Isaan niitolee heddu'uu fi ilmaan hedduu waan qabanuuf, akka galmee hidda dhaloota maatii isaaniititti loltoota lolaaf qophowane, kuma soddonii jaa qabaniyyu.

⁵ Gosa Yisaakorii mara keessaa akka barreeffama hidda dhaloota maatii isaaniititti loltooti jajjaba kuma saddeettamii torba.

⁶ Ilmaan Beniyaaminii sad: Belaa, Bekerii fi Yedii'el.

⁷ Ilmaan Belaa: Ezboon, Uzii, Uzii'el, Yeremootii fi Iiri; isaan shanan kun martinuu sooreyyii maatii abbaa isaanii ti; isaan akka galmee hidda dhaloota isaaniititti loltoota kuma diddamii lamaa fi soddonii afuri.

⁸ Ilmaan Bekerii: Zemiiraa, Yo'aas, Elii'ezer, Elyo'enaayi, Omiri, Yeremoot, Abiiyaa, Anaatotii fi Alaameti; isaan kun martinuu ilmaan Bekerii ti.

⁹ Akka galmee hidda dhaloota isaaniititti sooressitooti maatii abbaa isaanii, loltoota jajjaba kuma diddamaa fi dhibba lama.

¹⁰ Ilmi Yedii'elii Bilhaan. Ilmaan Bilhaanii: Ye'ush, Beniyaamin, Ehud, Kennaanaa, Zetaan, Tarshiishii fi Ahiishaahar.

¹¹ Ilmaan Yedii'elii tun martinuu sooreyyii maatii abbootii ifii ti; sanyii isaanii keessaa loltooti jajjabi lolaaf qophowane kuma kudhanii torbaa fi dhibba lama.

¹² Worri Shuphiimiitii fi Huphiimii sanyii Iirii ti; worri Hushiimii sanyii Aheerii ti.

Sanyii Niftaalemii

¹³ Ilmaan Niftaalemii: Yaahize'el, Guni, Yezerii fi Shaalum; Niftaalemiin kun ka Bilhaan deette.

Sanyii Minaase'ee

¹⁴ Ilmaan Minaase'ee: Asrii'elii fi Maakiir ka gursumeettittii biyya Sooriya'aa irraa uumate; Maakiir Giil'aad uumate.

¹⁵ Maakiir worra Huphiimiitii fi Shuphiimii keessaa niitii fuudhe; maqaan obboleettii isaa Ma'aka'a; ilmaan Maakiirii keessaa tokko Zelofehaad; inni ijoollee durraa gofa uumate.

¹⁶ Niitiin Maakiirii Ma'akaan ilma isaaf deettee, maqaa isaa «Pheresh» jette; maqaan obboleessa isaa Sheresh. Pheresh Ulaamii fi Raaqem uumate.

¹⁷ Ulaam Bedaan uumate; isaan kun sanyii Giil'aadii ilma Maakiirii, Maakiirii ilma Minaase'ee ti.

¹⁸ Obboleettiin Giil'aadii Hamoleket ilmaan sad: Ishood, Abii'ezerii fi Maahilaa deette.

¹⁹ Ilmaan Shemiida'aa: Ahiiyaan, Sheekem, Liikihii fi Aniiyaam.

Sanyii Efreemii

²⁰ Sanyiin Efreemii: Efreem, Shutelaa uumate; Shutelaan, Bered uumate; Bered, Tahaat uumate; Tahaat, El'aadaa uumate; El'aadaan, Tahaat uumate;

²¹ Tahaat Zaabaadii fi Shutelaa uumate. Ezerii fi El'aad horii worra biyya Gaatii hatiisaaf yennaa gad bu'ane worri biyya sanii isaan ijjeese.

²² Abbaan isaanii Efreem guyyaa hedduu isaaniif gadde; worri isaa dhufee isa jajjabeesse.

²³ Achiin duuba Efreem haadha manaa ifii woliin rafee, isiille ulfoottee ilma isaaf deette. Rakkinni maatii isaa waan dhaqqabeef, «Berii'aa» jedhee maqaa isa baase.

²⁴ Maqaan intala isaa Sera'a; isiin qachaa Bet-Horoonii ka jalaatii fi ka gubba'aa, qachaa Uzen-Seraalle ijaarsitte.

²⁵ Efreem, Refaan uumate; Refaan, Resheef uumate; Resheef, Telaan uumate; Telaan Tahaan uumate;

²⁶ Tahaan La'adaan uumate; La'aadaan Amiihud uumate; Amiihud, Eliishaamaa uumate;

²⁷ Eliishaamaan, Nun uumate; Nun, Iyaasuu uumate.

²⁸ Lafaa fi qachoota sanyiin Efreemii keessa leete: qachaa Bet'eliitii fi olloota adaala isaa; karaa aduun baatuun qachaa Na'araanii; karaa aduun seentuun qachaa Gezeriitii fi olloota adaala isaa; qachaa Sheekemiitii fi olloota adaala isaa; qachaa Ayya'aatii fi olloota adaala isaa ti.

²⁹ Karaa meessaa sanyii Minaase'eelle'een qachaa Bet-Shaanii, qachaa Ta'ana'aatii, qachaa Megidootii fi qachaa Doorii olloota adaala isaanii jiranu woliin. Sanyiin Yoseefii ilma Israa'elii qachoota kana keessa le'ane.

Sanyii Asheerii

³⁰ Ilmaan Asheerii: Yiimnaa, Yishwii fi Berii'a; obboleettiin isaaniille Sera'a.

³¹ Ilmaan Berii'aa: Heberii fi Malkii'el; Malkii'el Biirzaawiiti uumate.

³² Heber ilmaan sad Yaafilet, Shomer, Hotaamii fi obboleettii isaanii Shuwaa uumate.

³³ Ilmaan Yaafiletii: Phaasaak, Biimhaalii fi Ashiwaati.

³⁴ Ilmaan Shomerii: Ahi, Rohigaa, Yehubaa fi Aaram.

³⁵ Ilmaan obboleessa isaa Helemii: Zofaa, Yiimnaa, Sheleshii fi Aamaal.

³⁶ Ilmaan Zofaa: Suwaa, Harnefer, Shuwaal, Berii, Yiimraa,

³⁷ Bezer, Hood, Shamaa, Shiilshaa, Yitraanii fi Be'era'a.

³⁸ Ilmaan Yeterii: Yofunee, Fiisphaa fi Era'a.

³⁹ Ilmaan Ulaa: Araa, Hanii'elii fi Riiziiya'a.

⁴⁰ Isaan kun martinuu sanyii Asheerii keessaa sooressitoota maati'ii, loltoota jajjaboo filamane, sooressitoota qondaaltota isaanii ti. Worri lolaaf qophowane, akka galmee hidda dhaloota isaaniititti, dhiira kuma diddamii jaa.

8

Sanyii Beniyaaminii

¹ Beniyaamin ilma angaficha Belaa, ka lammeesso'oo Ashbel, ka sadeesso'oo Ahiiraa,

² ka arfeesso'oo Nohaa, ka shaneesso'oo Raafaa uumate.

³ Ilmaan Bel'aa: Adaar, Geraa, Abiihud,

⁴ Abiishuwaa, Na'amaan, Aho'aa,

⁵ Geraa, Shefufaani fi Huraam.

⁶ Sanyiin Ehudii sooressitooti maati'ii, ka Gebaa keessa le'ane, ka booji'amanee gara Manahaa fudhatamane:

⁷ Na'amaan, Ahiiyaa fi Gera'a. Geraan kun ka yennaa booju'uu san isaan sooresse; inni Uzaa fi Ahiihud uumate.

⁸ Shaharaayaam niitolee ifii Hushiimii fi Ba'araa lakkiseen duuba, biyya Mo'aabii keessatti ilmaan uumate.

⁹ Niitii ifii Hodeesh irraa: Yobaab, Ziibiyaa, Meshaa, Maalkaam,

¹⁰ Ye'uz, Saakiyaa fi Miirmaa uumate; isaan martinuu sooreyyii maatii isaanii ti.

¹¹ Ammalle niitii ifii Hushiim irraa: ilmaan Abiitubii fi Elphaa'al uumate.

¹² Ilmaan Elphaa'alii: Ebeer, Miishaamii fi Shemed. Shemediin kun ka qachaa Onootii fi Lodii olloota adaala isaanii jiranulle ijaare.

¹³ Berii'aa fi Shemaan, sooressitoota maatii qachaa Ayalonii keessa le'anuu ti; isaan worra qachaa Gaatii keessa le'anu ari'anee baasane.

¹⁴ Ahiiyon, Shaashaaq, Yeremoot,

¹⁵ Zebaadiyaan, Araad, Ader,

¹⁶ Mikaa'el, Yiispha'aa fi Yohaana ilmaan Berii'aa ti.

¹⁷ Zebaadiyaa, Meshulaam, Hiizeqi, Heber,

¹⁸ Yiishmeraayi, Yiizlii'aa fi Yobaab ilmaan Elphaa'alii ti.

¹⁹ Yaaqiim, Ziikri, Zabdi,

²⁰ Elii'enaayi, Ziiletaay, Elii'el,

²¹ Adaayaa, Beraaya'aa fi Shiimraat ilmaan Shime'ii ti.

²² Yiishphaan, Ebeer, Elii'el,

²³ Abdoon, Ziikri, Haanaan,

²⁴ Hanaaniyaan, Elaam, Antotiiya,

²⁵ Yefdeya'aa fi Phenu'el ilmaan Shaashaaqii ti.

²⁶ Shamsheraayi, Shehariya, Ataaliyaa,

²⁷ Yaa'areshiiya, Eliya'aa fi Ziikri ilmaan Yerohaamii ti.

²⁸ Isaan kun akka hidda dhaloota isaaniititti sooressitoota maati'ii te'anee barreeffamanee, Yersaalem keessa le'ane.

²⁹ Yeyi'el abbaa Giibe'onii ka qachaa Giibe'onii ijaaree keessa le'e; maqaan niitii isaa Ma'aka'a.

³⁰ Ilmi isaa angafichi Abdoon; itti aananee Zuur, Qiish, Ba'aal, Neer, Naadaab,

³¹ Gedoor, Ahiiyoo, Zaakerii

³² fi abbaa Shime'aa Miiklot. Isaan kunille fuullee fira ifii Yersaalem keessa le'ane.

³³ Neer abbaa Qiishii ti; Qiish abbaa Saa'olii ti; Saa'ol: Yonaataan, Malki-ishuwaa, Abinaadaabii fi Esh-Ba'aal uumate.

³⁴ Yonaataan Meriib-Ba'aal uumate; Meriib-Ba'aal Miikaa uumate.

³⁵ Ilmaan Miika'aa: Phiiton, Melek, Taare'aa fi Ahaaz.

³⁶ Ahaaz, Yeho'adaa uumate; Yeho'adaan Aalemet, Azmaawetii fi Ziimrii uumate; Ziimri, Mozaa uumate.

³⁷ Mozaan, Biine'aa uumate; Biine'aan, Raafaa uumate; Raafaan, El'aasaa uumate; El'aasaan, Azeel uumate.

³⁸ Azeel ilmaan jaa: Azriiqaam, Bokeruu, Ishimaa'el, She'ariyaa, Obaadiya'aa fi Haanaan uumate; isaan kun martinuu ilmaan Azeelii ti.

³⁹ Ilmaan Obboleessa isaa Asheeqii: angafichi Ulaam, ka lammeesso'oo Ye'ush, ka sadeesso'oo Eliifelex.

⁴⁰ Ilmaan Ulaamii loltoota jajjaboo, worra guube'een lolu. Isaan ilmaan heddu'uu fi ilmaan ilmaa isaanii hedduu wolumatti dhibba tokkoo fi shantama qaban. Isaan kun martinuu sanyii Beniyaaminii ti.

9

Kolbaa Israa'elii Ta Boojuu Irraa Deebite

¹ Maarre kolbaan Israa'elii marti akka hidda dhaloota isaaniititti kitaaba mootota Israa'elii keessatti barreeffamane.

Kolbaan Yihuda'aa sababa addatamiisa dhabiisa ifitiif booji'antee gara biyya Baabilonii fudhatante.

² Worri qara gara lafa ifitii fi qachoota ifititti deebi'ee qubate, Israa'eloota garii, hayyoota, Lewwootaa fi tajaajiltoota Galma Waaqaa ti.

³ Sanyii Yihuda'aa, sanyii Beniyaaminii, sanyii Efreemiitii fi sanyii Mi-naase'ee keessaa worri Yersaalem keessa le'ane asii gad jiran:

⁴ Sanyii Faaresii ilma Yihuda'aa keessaa Utaayii ilma Amiihudii ti. Amiihudii ka Omirii, Omir ka Iimrii, Iimrii ka Baanii ti.

⁵ Sanyii Shiiloonii keessaa: Ilma isaa angaficha Asaayaa fi ilmaan isaa ti.

⁶ Sanyii Zeraa keessaa: Yewu'el. Kolbaan Yihuda'aa namoota dhibba jaa fi sagaltama.

⁷ Sanyii Beniyaaminii keessaa: Sa'aaluu ilma Meshulaamii ti. Meshulaam ka Hodaawiyaa, Hodaawiya ka Hasenu'aa ti.

⁸ Ilma Yerohaamii Yiibneyaa, akaakoo Miikrii, ilma Uzii Elaa, abuuboo Yiibniya'aa, akaakoo Rewu'elii, ilma Shefaaxiya'aa Meshulaam.

⁹ Kolbaan Beniyaaminii akka hidda dhaloota isaaniititti dhibba sagalii fi shantamii jaa. Isaan kun marti soressitoota maatii ifii ti.

¹⁰ Hayyoota keessaa: Yedaa'iyaa, Yoyaariib, Yaakiin,

¹¹ ilma Hilqiiya'aa Azaariya'a. Azaariyaan ka Meshulaamii, Meshulaam ka Zaadoqii, Zaadoq ka Meraayootii, Meraayoot ka Ahiixubii ti. Ahiixub itti gaafatamaa hujii Galma Waaqaa keessaa ti.

¹² Adaayaan ilma Yerohaamii ti. Yerohaam ka Phashihurii, Phashihur ka Malkiyya'aa ti. Ma'aasayaan ilma Adii'elii ti. Adii'el ka Yaahizera'aa, Yaahiiz-era ka Meshulaamii, Meshulaam ka Meshiilemii, Meshiilem ka Iimerii ti.

¹³ Hayyooti sooressitooti maatii isaanii kuma tokkoo fi dhibba torbaa fi jaatama; isaan kun worra jajjaba hujii Galma Waaqaa keessaa hujuu dande'u.

¹⁴ Lewwoota keessaa: ilma Hashubii Shemaa'iya'a. Hashub ka Azri-iqaamii, Azriiqaam ka Hashabiiya'aa ti.

¹⁵ Baqbaqar, Heresh, Gaalaal, ilma Miika'aa Mataaniya'a. Miikaan ka Ziikrii, Ziikri ka Asaafii ti.

¹⁶ Obaadiyaa ilma Shemaa'iyaa ti. Shemaa'iya ka Gaalaalii, Gaalaal ka Yedutuu ti. Berekiiyaa ilma Aasa'aa ti. Aasaan ka Elqaana'aa ti. Elqaanaan ka olloota Netofaatotaa keessa le'e.

¹⁷ Eddoti karraa: Shaalum, Aquub, Talmoon, Ahimaanii fi fira isaanii ti; Shaalum sooressaa isaanii ti.

¹⁸ Isaan haga adhaa karra karaa aduun baatuu ta mootichi ittiin ol seenutti ramadamaneraan; isaan eeddota quttuma Lewwootaa ti.

¹⁹ Abuuboon Qoree akaakoon Ebiyaasaafii ilmi Qoree Shaalumii fi firooti abbaa isaa Qoraahoti, akkuma abbootiin isaanii seensuma Dunkaanii Wold-eenna'aa eegiisaaf itti gaafatantoota te'ane, isaanille hujii Galma Waaqaa keessaatitti itti gaafatantoota.

²⁰ Ilmi Ele'azaarii Fiinehaas dur itti gaafatamaa eeddota karraa ti; Mootiin Waan Maraalle isa woliin jiraayyu.

²¹ Seensuma karra Dunkaanii Woldeenna'aa ka eegu ilma Meshelemiya'aa Zakaariyaas.

²² Worri seensuma karra Galma Waaqaa eegiisaaf filame, wolumatti dhibba lamaa fi kudhanii lama. Isaan akka hidda dhaloota isaanititti olloota ifii keessatti barreeffamane. Isaan kun akka isaan karra eeganu worra Daawitii fi raagichi Saamu'el ramadane.

²³ Isaanii fi sanyiin isaanii itti gaafatantoota karra Galma Waaqaa ka Dunkaanii Woldeenna'aa ti.

²⁴ Worri karra eegu maddii arfaniinuu karaa aduun baatuun, karaa aduun seentuun, kaabaa fi kibbaan jiraniyyu.

²⁵ Worri fira isaanii ka ollaa isaanii keessa jiranu yennaa yenna'an dhufanee guyyaa torbaaf isaan woliin eeganiyyu.

²⁶ Sooreyyiin Lewwootaa arfan eeddoti karraa, kolloota Galma Waaqaatii fi addee mey Galma Waaqaa itti maffamu addatamumma'aan eeganiyyu.

²⁷ Galma Waaqaa eegiisaaf, ganama ganamalle karra baniisaaf, itti gaafatamummaa furtu'uu waan qabanuuf, isaan adaala Galma Waaqaa bulaniyyu.

²⁸ Lewwooti gariin itti gaafatantoota meya Galma Waaqaa keessaa ti; isaan meya yennaa itti fayyadamanu laakkowanee baasanee yennaa galchanulle laakkowanee massan.

²⁹ Lewwooti kuun meya gara garaa, meya woyyicha mara, bullaa qamadi'ii dansaa, daadhii woyni'ii, zayitii, hixaanaa fi uddowaa adda addaa irratti itti gaafatantoota te'ane.

³⁰ Hayyoota keessaa gariin ammoo, uddowaa wolitti makiisaaf itti gaafatantoota te'ane.

³¹ Lewwoota keessaa Matiitiyaan ilmi angafichi Shaalumii firri Qoraahii addatamaa waan te'eef, itti gaafatamaa daabboo kennansaaf bilcheessanuu ti.

³² Fira isaanii fira Qehaatii keessaa gariin, Sanbata Sanbata daabboo xarapheessaa irra keyantu qopheessiisaaf itti gaafatantoota te'ane.

³³ Worra Lewwootaa keessaa sooressitooti maati'ii, faarsitooti, halkanii fi guyyaalle waan tajaajilanuuf, hujii dhibii irraa bilisa te'anee, kolloota Galma Waaqaa keessa le'an.

³⁴ Isaan kun martinuu, akka hidda dhaloota isaaniititti sooreyyii maatii Lewwi'ii, ka Yerusaalem keessa le'ane.

Hidda Dhaloota Saa'olii Mootichaa

³⁵ Abbaan Giibe'onii Yeyi'el qachaa «Giibe'on» jedhamu ijaaree achuma le'e; maqaan niitii isaa Ma'aka'a.

³⁶ Ilmi isaa angafichi Abdoon; ka itti aananu Zuur, Qiish, Ba'aal, Neer, Naadaab,

³⁷ Gedoor, Ahiiyoo, Zakaariyaasii fi Miiklot.

³⁸ Miiklot, Shime'aa uumate. Isaanille fira ifii bira Yerusaalem keessa le'ane.

³⁹ Neer, Qiish uumate; Qiish, Saa'ol uumate; Saa'ol: Yonaataan, Malki-ishuwaa, Abinaadaabii fi Esh-Ba'aal uumate.

⁴⁰ Yonaataan, Meriib-Ba'aal uumate; Meriib-Ba'aal, Miikaa uumate.

⁴¹ Ilmaan Miika'aa: Phiiton, Melek, Taare'aa fi Ahaaz.

⁴² Ahaaz, Yaaraa uumate; Yaaraan: Alemet, Azmaawetii fi Ziimri uumate; Ziimri Mozaa uumate.

⁴³ Mozaan, Biine'aa uumate; Biine'aan, Refaayaa uumate; Refaayaan, El'aasaa uumate; El'aasaan, Azeel uumate;

⁴⁴ Azeel ilmaan jaa qaba; maqaan isaanii: Azriiqaam, Bokeruu, Ishimaa'el, She'ariyaa, Obaadiyaa fi Haanaan. Isaan kun ilmaan Azeelii ti.

10

Du'a Saa'olii Mootichaa

(1 Sam. 31:1-13)

¹ Bara san worri Filisxeemotaa Israa'eloota lolane; Israa'elootille isaan duraa adoo baqatanuu, bacaan isaanii gaara Giilbo'aa irratti ijjeefamane.

² Worri Filisxeemotaa Saa'olii fi ilmaan isaa ari'anee, ilmaan isaa sad Yonaataan, Abinaadaabii fi Malkiishuwaa ijjeesane.

³ Lolli kun Saa'ol irratti jabaate; worri daayaan lolu yennaa isa dhaggane, daayaan isa madeessane.

⁴ Saa'ol namicha meya lolaa ka isaa ba'atuun, «Worri haqanqabaa hin qabatin kun dhufee akka natti hin taphanne, ati shallaagaa keeti buqqifadhuutii na ijjeesi!» jedhe. Namichi meya lolaa ka isaa ba'atu sun ammoo, guddoo waan sodaateef, tana hin goone. Tanaaf, Saa'ol shallaagaa ifii fudhatee, isa irratti ifi dire.

⁵ Namichi meya lolaa ka isaa ba'atu sun, Saa'ol akka du'e yennaa dhagge, innille shallaagaa ifii irratti ifi diree du'e.

⁶ Akka kanaan Saa'ol du'e; isaa fi ilmaan isaa sadiinuu, maatiin isaa marti woluma gula dhumatane.

⁷ Israa'elooti dhooqa san keessa jiranu, loltooti isaanii akka baqatane, Saa'olii fi ilmaan isaa akka dhumatane yennaa dhaggane, qachoota ifii lakkisane baqatane. Worri Filisxeemotaa dhufanee qachoota san qabatane.

⁸ Boruuyyaa worri Filisxeemotaa, worra dhumatane san irraa meya mulqatiisaaf yennaa dhufane, reeffa Saa'oliitii fi reeffa ilmaan isaa gaara Giilbo'aa irratti dhaggane.

⁹ Isaan woyaa Saa'ol irraa mulqatanee, mataa isaa muranee, meya lolaa isaa fudhatanee, oduu dansaa tana waaqotaa fi kolbaa ifiititti akka himanuuf, lafa Filisxeemotaa mara keessa namoota ergane.

¹⁰ Isaan meya lolaa ka isaa galma waaqota ifii keessa keyanee, mataa isaa galma waaqa ifii ka Daagonii keessatti fannisane.

¹¹ Namooti qachaa Yaabesh-Giil'aadii keessaa ammoo, waan worri Filisxeemotaa Saa'ol irratti godhane mara yennaa dhage'ane,

¹² loltooti isaanii jajjaboon dhaqanee, reeffa Saa'oliitii fi reeffa ilmaan isaa fuudhane, gara Yaabeshii fidane; lafee isaanii qilxaa jalatti awwaalanee, guyyaa torba laamane.

¹³ Saa'ol Mootii Waan Maraatiif addatamiisa waan dhabeef du'e; inni worra ekeraa dubbisu irraa gorsa gaafate malee, jecha Mootii Waan Maraatiif hin ajajanne.

¹⁴ Inni Mootii Waan Maraa hin gaafanne. Tanaaf Mootiin Waan Maraa isa ijjeese, mootummaa isaa ilma Iseyii Daawititti dabarsee kenne.

11

Daawiti Mootii Israa'elii Te'e (2 Sam. 5:1-10)

¹ Achiin duuba Israa'elooti martinuu Kebroonitti Daawiti biratti wolitti qabamanee, «Kunoo, nuuti foon keetii fi dhiiga keeti.

² Dur yennaa Saa'ol mootii te'ee jiruuyyuu, ka Israa'eloota duulchisee galchu si'i. Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti si'iin, «Ati kolbaa tiyya Israa'el hin tissita; bulchaa kolbaa tiyya Israa'elii hin teeta» jedheera» jedhaneen.

³ Jaarsoleen Israa'elii marti Kebroonitti mooticha Daawiti bira yennaa dhufane, inni fuula Mootii Waan Maraa duratti isaan waliin gondoorroo gondoorate. Akkuma Mootiin Waan Maraa karaa Saamu'eliitiin dubbatetti, isaan akka Daawiti Israa'el irratti mootii te'u muudane.

⁴ Mootichi Daawitii fi Israa'elooti marti gara qachaa Yerusaaalemii ka «Yibus» jedhamuu duulane. Worri Yibusootaa ka achi keessa le'u,

⁵ Daawitiin, «Ati as hin seentu» jedhane. Daawiti ammoo, kushee Xiyoonii qabate; kusheen sun, «Qachaa Daawitii» jedhantee beekkante.

⁶ Daawiti, «Nami dursee Yibusoota lolu sooressa loltootaa ajajaa woraanaa hin te'a» jedhe. Yo'aab ka Zeruyaana deette dursee dhaqee isaan lolee, ajajaa te'e.

⁷ Achiin duuba Daawiti kushee san keessa le'e; tanaaf isiin, «Qachaa Daawitii» jedhante.

⁸ Inni kaabii, «Miiloo» jedhantuu kaasee, kushee sanitti naannessee qachaa ijaare; Yo'aabille qachaa hafe deebisee haarsesse.

⁹ Mootiin Waan Maraa ka waan mara dade isa waliin waan jiruuf, Daawiti ittuma jabaataa ideeme.

Loltoota Daawitii Gootota (2 Sam. 23:8-39)

¹⁰ Isaan kun Loltoota Daawitii keessaa gootota, kolbaa Israa'elii mara waliin akkuma Mootiin Waan Maraa waadaa galetti, akka Daawiti mootii te'u, mootummaan isaalle akka jabaattu worra mootummaa isaa keessatti isa qargaare.

¹¹ Laakkossi loltoota gootota Daawitii ka asii gad jiru: Ka qaraa Yaashobi'aam ka fira Hakmonii sooressa gootota sadii ti; inni lola tokko keessatti eboo ifitiin namoota dhibba sad ijjeese.

¹² Gootota sad keessaa ka isatti aanu, fira Ahohii ilma Dodoo Ele'azaar.

¹³ Yennaa worri Filisxeemotaa lolaaf Phasdamiimitti wolitti qabamane, inni Daawiti waliin achi jiraayyu; addee fichaa garbuun bacaan keessa jiruutitti, Israa'elooti worra Filisxeemotaa duraa baqatane.

¹⁴ Daawitii fi Ele'azaar fichaa san keessatti waan addee qabataneeranuuf, worra Filisxeemotaa lolane; Mootiin Waan Maraa injifachaa guddoo isaaniif kenne.

¹⁵ Loltoota worra Filisxeemotaa keessaa gariin, dhooqa Refaa'iimii keessatti kushee qabatanee adoo jiranuu, sooreyyii loltoota Daawitii sodoma keessaa sad, Daawiti bira gara rassaa goda Adulaamii bira jiruu dhagane.

¹⁶ Yennaa san Daawiti kushee keessa jiraayyu; loltooti Filisxeemotaalle Betlihem keessa jiraniiyyu.

¹⁷ Daawiti bisaan dheebotee, «Boolla bisaanii ta karra Betlihem bira jirtu keessaa, bisaan ani unu eennutti woraabee naa fida laati!» jedhe.

¹⁸ Achiin duuba loltooti goototi sadiin sun, loltoota worra Filisxeemotaa keessa dabaranee, boolla karra Betlihemii bira jirtu san keessaa bisaan woraabanee, Daawitiif fidane. Daawiti ammoo, bisaan san hin unne. Inni bisaan san kennansaa godhee Mootii Waan Maraatiif dhangalaasee,

¹⁹ «Akka ani bisaan kana hin unne Waaqi narraa fageessuu ti! Bisaan kana uniis akka ani dhiiga namoota lubbuu ifii gurguratanee, bisaan kana fidanee unaneetii motii ree?» jedhe. Tanaaf inni bisaan san hin unne. Namooti goototi sadiin sun wonni godhane tana.

²⁰ Obboleessi Yo'aabii Abiishaayi sooreessa loltoota gootota sadiin sanii ti; inni eboo ifii fudhatee namoota dhibba sad ijjeese, akka loltoota gootota sadiin sanii gurra dhaggate.

²¹ Inni loltoota sadiin san keessaa tokko te'uu dhabulle, isaan caalaa ulfinna guddaa dhaggatee ajajaa isaanii te'e.

²² Ilmi Yihoyaada'aa nami biyya Kabzii'elii Benaayaan, lolticha goota nama hujii gugurdoo huje. Inni gootota Mo'aabii lama ijjeese. Gaafa dhakaan roobaa bu'e tokko gara bowwa'aa gad dhagee neenqa tokkolle ijjeeseera.

²³ Inni nama biyya Gibxi'ii ka ciqilee shan dheeratu tokkolle ijjeeseera. Namichi Gibxi'ii sun, eboo somey isi'ii muka worri woyaa dhowu, woyaa dhowu itti maru fakkaattu qabaatulle, Benaayaan ulee ifii qabatee itti dhagee, eboo isaa harkaa butee fuudhee, ebuma isaatiin namicha Gibxi'ii san ijjeese.

²⁴ Ilmi Yihoyaada'aa Benaayaan tana godhiisaan, innille akkuma gootota dhiira sadiin sanii gootummaa dhaggate.

²⁵ Inni loltoota gootota soddoma san caalaa ulfinna dhaggate; te'uu malee inni akka gootota sadiin kaanii ka beekkamee moti. Daawiti worra isa eegu irratti itti gaafatamaa isa godhate.

²⁶ Loltooti goototi ka asii gad jiranu: obboleessa Yo'aabii Asaahel, nama biyya Betlihemii ilma Dodoo Elhaanaa,

²⁷ nama biyya Harorii Shaamoot, nama biyya Phelonii Helez,

²⁸ nama biyya Teqo'aa ilma Iiqishii Iiraa, nama biyya Anaatotii Abii'ezer,

²⁹ nama biyya Hushii Siibekaayi, nama biyya Ahohii Iilaayi,

³⁰ nama biyya Netofii Maharaay, nama biyya Netofii ilma Ba'anaa Heled,

³¹ sanyii Beniyaamii keessaa nama biyya Giibe'aatii ilma Riibaayii Iitaayi, nama biyya Phiiraatonii Benaayaa,

³² nama biyya dhooqa Ga'aashii keessaa Huraayi, nama biyya Aarbataahii Abii'el,

³³ nama biyya Baharumii Azmaawet, nama biyya Sha'albonii Eliyaabaa,

³⁴ ilmaan Haashemii nama biyya Giizonii, nama biyya Haraarii ilma Shaagee Yonaataan,

³⁵ nama biyya Haraarii ilma Saakaarii Ahii'aam, ilma Urii Eliifaal,

³⁶ nama biyya Mekeraatii Hefer, nama biyya Phelonii Ahiiyaa,

³⁷ nama biyya Qarmelosii Hezro, ilma Ezbaayii Na'araayi,

³⁸ obboleessa Naataanii Yo'el, ilma Hagrii Miibhaar,
³⁹ nama biyya Amoonii Zeleq, nama biyya Berootii ka meya lolaa Yo'aabii ba'atu, ka Zeruyaana deette Naharaayi,
⁴⁰ nama biyya Yaatiirii Iiraa, nama biyya Yaatiirii Gaareb,
⁴¹ nama biyya Heetii Uriiyaa, ilma Ahilaayii Zaabaad,
⁴² ilma Shiizaa nama biyya Ruubenii ka gosa Ruubeniitii fi loltoota soddoma isa woliin jirtuuf sooressa te'e Adiinaa,
⁴³ ilma Ma'akaa Haanaan, nama biyya Miitaanii Yoshaafaax,
⁴⁴ nama biyya Ashteraatii Uziyaa, ilmaan Hotaamii nama biyya Aro'erii Shaamaa'ii fi Yeyi'el,
⁴⁵ ilmaan Shiimrii nama biyya Tiizaahii Yediyaa'elii fi obboleessa isaa Yohaa,
⁴⁶ nama biyya Mahawaatii Elii'el, ilmaan Elnaa'aamii Yeriibaayii fi Yoshaabiyaa, nama biyya Mo'aabii Iitmaa,
⁴⁷ Elii'el, Obedii fi nama biyya Mezoobii Ya'aasi'el.

12

Loltoota Daawititti Dabalamane

¹ Daawiti ilma Qiishii Saa'ol duraa dhokatee Siiqlaag keessa adoo jiruu, loltoota gootota duula keessatti isa qarqaarane keessaa ka gara isaa dhufane, ka asii gad jiranu:
² Isaan worra guube'ee ka daaya harka middaatii fi bita'aatiin darbatiiisa, dhakaalle qolaansiisa dande'u, gosa Beniyaamii keessaa fira Saa'olii ti;
³ Soressitooti isaanii Ahi'ezerii fi Yo'aas; isaan lamaanuu ilmaan Shema'aa nama biyya Giibe'aatii ti; ilmaan Azmaweeyezii'elii fi Phelex, Beraakaa, nama biyya Anaatotii Yehuu,
⁴ nama biyya Giibe'onii Yishmaa'iyaa ka odduu loltoota soddomaatitti gooticha sooressa isaanii te'e; Ermiyaas, Yahaazi'el, Yohaannaan, nama biyya Gederaatii Yozaabaad,
⁵ Eluzaayi, Yeremoot, Belaayaa, Shemaariyaa, nama biyya Haruufii Shefaaxiyaa,
⁶ Elqaanaa, Yeshiiyaa, Azaarel, Yo'ezerii fi nama biyya Qoraahii Yaashaabe'aam,
⁷ nama biyya Gedoorii keessaa ilmaan Yerohaamii Yo'elaa fi Zebaadiya'a.
⁸ Daawiti kushee goomolee keessaa keessa adoo jiruu gosa Gaadii keessaa loltooti goototi gara isaa dhufane; isaan worra wonte'ee fi woraana qabatiisa beekanu, ka fuulli isaanii akka fuula neenqaa sodaachisuu fi ariitiin isaaniille akka buddannee gaara irraa ti.
⁹ Soressitooti isaanii tokkeessoon Ezer, lammeessoon Obaadiyaa, sadeessoon Eliiyaab,
¹⁰ arfeessoon Miishimana'a, shaneessoon Ermiyaas,
¹¹ jayeessoon Aataayi, torbeessoon Elii'el,
¹² saddeetessoon Yohaanna'a, sagaleessoon Elzaabaad,
¹³ kudhaneessoon Ermiyaas, kudha tokkeessoon Maakbaanaay.
¹⁴ Isaan kun ajajjoota loltoota gosa Gaadii ti; isaan keessaa ajajaan diqqaan akka ajajaa loltoota dhibbaa ti; ajajaan guddaan akka ajajaa loltoota kumaa ti.
¹⁵ Isaan ji'a qaraa keessa, yennaa lagi Yordaanosii guute, gamatti bu'ane worra Yordaanos irraa karaa aduun baatuu fi karaa aduun seentu dhooqa keessa le'u mara ari'ane.
¹⁶ Gosa Beniyaaminiitii fi gosa Yihuda'aa keessaa namooti gariin gara kushee isaa Daawiti bira dhufane.

¹⁷ Daawiti isaan qophatiisaaf gara isaanii gad bayee isaaniin, «Isin nageyaaf, na qarqaariisaafille gara kiyya yoo dhuttanee jiraattane, isin fudhatiisaaf qophoweera. Adoo ani dokonkora tokko hin qabaatin, isin diina kiyyatti dabarsitane na kenniisaaf gara kiyya yoo dhuttanee jiraattane ammoo, Waaqi abbootii teennaa isin dhagguu ti; isinille'etti muruu ti» jedhe.

¹⁸ Achiin duuba ayyaanni Waaqaa ajajaa loltoota soddomaa Amaasaayi irratti bu'ee,

«Ee Daawiti, nuuti keeti;
Ee ilma Iseyii nuuti si woliin jirra;
Waaqi waan si qarqaaruuf
nageenni siif te'u!
worra si qarqaaruufille
nageenni te'uu ti» jedheen.

Maarre Daawiti isaan fudhatee, sooressitoota loltoota ifi godhate.

¹⁹ Daawiti worra Filisxeemotaa woliin Saa'olii mooticha loliisaaf yenna dhage, gosa Minaase'ee keessaa gariin finqilane loltoota Daawitiititti makamane; te'uu malee Daawitii fi namooti isaa worra Filisxeemotaa hin qarqaarre; sababille sooressitooti Filisxeemotaa, «Daawiti, nu fixee gara gootaa ifi Saa'olii deebi'a» jedhane waan sodaataneef, mari'atane akka inni achii deemu godhane.

²⁰ Yennaa Daawiti gara Siiqlaagii dhage gosa Minaase'ee keessaa, ajajjooti kumaa: Adiinaa, Yozaabaad, Yediya'el, Mikaa'el, Yozaabaad, Eliihuu fi Ziiletaay finqilane gara isaa galane.

²¹ Isaan kun marti loltoota gootota waan te'aneef, loltoota isaa keessalle'etti ajajjoota waan te'aneef, worra Daawititti duule loliisaan isa qarqaarane.

²² Loltooti Daawitii akka loltoota Waaqaa haga bacatanutti, namooti isa qarqaarsiisaaf guyyuma guyya'aan gara isaa dhufane.

Worri dhibiin Kebroonitti Gara Daawitii Dhufane

²³ Akkuma Mootiin Waan Maraa Daawitiif waadaa galetti, laakkossi loltoota lolaaf hidhatanee, mootummaa Saa'olii mootichaa gara isaa deebisiisaaf, Kebroonitti gara Daawitii worri dhufe ka asii gad jiru:

²⁴ Wonte'ee fi eboo qabatanee lolaaf worri qophowane, namooti Yihuda'aa loltoota kuma jaa fi dhibba saddeeti.

²⁵ Gosa Shimi'oonii keessaa loltooti goototi lolaaf qophowane, namoota kuma torbaa fi dhibba tokko.

²⁶ Gosa Lewwi'ii keessaa loltoota kuma afurii fi dhibba jaa.

²⁷ Akkasuma fira Aaronii keessaa Yehoyaadaa sooressaa isaanii woliin nama kuma sadii fi dhibba torba.

²⁸ Dargaggeessa goota Zaadoqii fi maatii abbaa isaa keessaa ajajjooti diddamii lama.

²⁹ Fira Saa'olii keessaa namooti Beniyaamii kum sad, isaan keessaa gariin irra caalaan haga bara saniititti Saa'oliif addatamane.

³⁰ Namoota Efreemii keessaa, loltooti goototi fira abbaa ifi keessatti beekkamane kuma diddamaa fi dhibba saddeeti.

³¹ Namoota gamisa gosa Minaase'ee keessaa, ka maqaan isaanii galmeeffamee, Daawiti mootii godhatiisaaf dhufane, namoota kuma kudha saddeeti.

³² Sanyii Yisaakorii keessaa, worri bara hubatane, waan Israa'el maltelle worri beekane, fira isaanii worra ajaja isaanii jala jiranu mara woliin sooreyyiin dhibba lama.

³³ Namoota Zebuloonii keessaa, loltooti meya lolaa maraan leenjifamanee lolaaf qophowane, ka gadhaa tokkochaan Daawiti qarqaariisaaf dhufane, namoota kuma shantama.

³⁴ Sanyii Niftaalemii keessaa ajajjooti kuma tokko; isaan wolille'een worri wonte'ee fi eboo qabatu nama kuma soddonii torba.

³⁵ Sanyii Daanii keessaa ka lolaaf qophowane, namoota kuma diddamii saddeetii fi dhibba jaa.

³⁶ Sanyii Asheerii keessaa ka lolaaf leenjifamanee duulaaf qophowane kuma afurtama.

³⁷ Worra laga Yordaanosii irraa karaa aduun baatu jiranu keessaa, namooti Ruubenii, namooti Gaadiitii fi gamisa gosa Minaase'ee ka meya lolaa mara hidhatane, nama kuma dhibba tokkoo fi kuma diddama.

³⁸ Loltooti lolaaf qophootte tun martinuu gadhaa tokkochaan, Daawiti Israa'el irratti mootii godhatiisaaf gara Kebroonii dhufane. Namooti Israa'elii worri hafane martille, Daawiti mootii godhatiisaaf yaadi isaanii akkuma san tokko te'e.

³⁹ Namooti kun waan firri isaanii isaaniif qopheessane nyaataa, unaa guyyaa sad Daawiti bira turane.

⁴⁰ Israa'el keessatti yennaa gammadaa waan teeteef, namooti adaala isaanii jiranulle, lafa fagoo Yisaakor irraa, Zebuloonii fi Niftaalem irraa sagalee harreelle'etti, gaalotatti, gaangole'ee fi sangootatti fe'anee bullaa, bixee harru'uu, bixee midhaan woyni'ii, daadhii woyni'iitii fi zayitii bacaa fe'anee fidane. Sangootaa fi hooleelle fidanee dhufane.

13

Kiriyat-Ya'ariim Irraa Saanduqa Gondooro'oo Fidane

¹ Daawitiin mootichi ajajjoota ifii ta kumaatii fi ta dhibbaa, sooreyyii ifii mara waliin mari'ate.

² Achiin duuba Daawiti gumii Israa'elootaa maraan, «Wonni kun yoo isinitti dansaa fakkaatte, fedhii Mootii Waan Maraa Waaqa keennaalle yoo teete, obboleeyyan teenna ta hatte, worri lafa Israa'elii keessa jiranu, hayyootaa fi Lewwooti qachoota ifii keessaa fi lafa tikaa ta ifii keessa jiranu marti, dhufanee akka nu waliin wolitti qabamanu namoota isaanitti ergina.

³ Kowa'a, Saanduqa Gondooro'oo Ka Mootii Waan Maraa Waaqa keennaa ta bara mootummaa Saa'olii hin barbaadin, dhandhee fidanna» jedhe.

⁴ Wonni sun marti isaan maratti sirrii teetee waan mudhatteef, kolbaan sun marti tana godhiisaaf wolii galte.

⁵ Maarre Daawiti Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa Kiriyat-Ya'ariimii fidiisaaf, Israa'eloota laga Shi'horii ka Gibxii keessaatii jalqabee, haga seen-suma Haamaatii jiranu mara wolitti qabe.

⁶ Daawitii fi Israa'elooti marti Saanduqa Gondooro'oo ta Waaqa Mootii Waan Maraa ta maqaa isaatiin waamante, ta dada ol-gubba'aa ta koola qaddu lamaan odduu barcuma'aa irra keyante san fidiisaaf, gara qachaa Ba'aalaa, ka Yihudaa keessaa ka «Kiriyat-Ya'ariimii» jedhamutti ol bayane.

⁷ Isaan Saanduqa Gondooro'oo ta Waaqaa mana Abinaadaabiitii fuudhane, garreettaa haareya irra keyanee fidane. Uzaanii fi Ahiiyon garreettaa harkifamu san oofane.

⁸ Daawitii fi Israa'elooti marti hunna ifii maraan Waaqa duratti weeddu'uun, kiraara guddichaan, maseengo'oon, dibbe'een, sibiila wolitti dhowamee qoonqoo guddoo dhageessisuu fi tultulla'aan jilifatane.

⁹ Eeddummee Kiidonii yennaa geyane qotiyyooti garreettaa harkittu waan gufatteef, Uzaan Saanduqa Gondooro'oo san qabiisaaf itti hiixate.

¹⁰ Uzaan Saanduqa Gondooro'oo san harka ifitiin waan tuqeef, Mootiin Waan Maraa isatti aaree isa dhowe. Maarre inni achuma Waaqa duratti du'e.

¹¹ Aariin Mootii Waan Maraa waan Uzaa cassiteef, Daawiti aare. Addeen sun haga adhaatitti «Pherez-Uzaa*» jedhanti.

¹² Daawiti gaafasii jalqabee Waaqa sodaatee, «Ani attamiin Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa tana fudhadhee galuu dande'a ree?» jedhe.

¹³ Tanaaf, Daawiti Saanduqa Gondooro'oo san gara qachaa ifii fudhatee galiisa lakkisee, gara mana Obed-Edoomii nama qachaa Gaatii geesse.

¹⁴ Saanduqi Gondooro'oo ta Waaqaa, ji'a sad maatii Obed-Edoomii woliin mana isaa keessa turte. Mootiin Waan Maraalle maatii Obed-Edoomiitii fi waan inni qabu mara eebbise.

14

Mana Daawitiitii Fi Maatii Isaa

¹ Mooticha Daawitiif mana mootumma'aa akka ijaaranuuf, mootichi Xi-iroosii Hiiraam namoota mana dhaka'aan ijaaranuu fi namoota muka bociisa beekanu, muka hindheensaa woliin isaaf erge.

² Daawitille akka Mootiin Waan Maraa kolbaa Israa'elii irratti mootii isa godhee fi sababa kolbaa ifii Israa'eliitiif jedhee mootummaa isalle akka guddise beeke.

³ Daawiti Yerusaalem keessatti dubartii ede'ee fuudhee, ilmaanii fi ijoollee durraa ede'ee uumate.

⁴ Maqaan ijoollee inni Yerusaalemitti uumatee: Shamu'aa, Shobaab, Naataan, Solomoon,

⁵ Yiibhaar, Eliishuwaa, Elphaalex,

⁶ Nogaa, Nefeg, Yaafii'aa,

⁷ Eliishaamaa, Ba'aal-Yaadaa fi Eliifelex.

Daawiti Worra Filisxeemotaa Injifate

⁸ Daawiti biyya Israa'elii irratti mootii akka te'e worri Filisxeemotaa yennaa dhage'e, marti isaaniituu isa qabiisaaf ol bayane; Daawitille isaan loliisaaf duula itti baye.

⁹ Worri Filisxeemotaa dhooqa Refaa'iimii geyanee saamiisa jalqabane.

¹⁰ Daawiti, «Worra Filisxeemotaatitti duuluu? Ati harka kiyyatti dabarsitee isaan hin kennitaa?» jedhee Waaqa gaafate.

Mootiin Waan Maraa deebisee, «Ee, duuli, ani harka keetitti dabarsee isaan hin kenna» jedhe.

¹¹ Maarre Daawiti namoota ifii woliin gara Ba'aal Pheraaziimii ol bayee, worra Filisxeemotaa lolanee injifatane. Inni, «Akka lolaan bisaanii ededa caccassu, Waaqi harka kiyya irratti diinota kiyya caccasse» jedhe. Tana irratti maqaan addee saniille, «Ba'aal-Pheraaziim*» jedhamee moggaafame.

¹² Worri Filisxeemotaa waaqota ifii ka dharaa achitti lakkisane baqatane; Daawiti akka isaan gubamanuuf ajaja baase.

¹³ Worri Filisxeemotaa ammalle deebi'anee dhooqa san saamiisa jalqabane.

¹⁴ Daawiti ammalle Waaqa gaafate; Waaqille deebisee, «Marfadhuutii muka harru'uu biraan isaan loli malee, fuula duraan itti ol hin bayin.

¹⁵ Qoonqoo geerarsaa qaccee muka harru'uu gubba'atti yennaa dhageette, ani loltoota Filisxeemotaa injifatiisaaf si'iin dura waan bayuuf, isaan loliisaaf dhaqi» jedheen.

* **13:11** *Pherez-Uzaa*: Afaan Ibrootaatiin *cannana Uza'aa* jechu'u. * **14:11** *Ba'aal-Pheraaziim*: Afaan Ibrootaatiin *Mootiin Waan Maraa caccassuu* ti jechu'u.

¹⁶ Daawiti akkuma Waaqi isa ajaje godhee, namoota ifii woliin, Giibe'onii jalqabee haga Gezeriititti loltoota worra Filisxeemotaa ari'e.

¹⁷ Gurri Daawitii lafa maratti dhage'ame; Mootiin Waan Maraalle gosi biyyi adda addaa akka isa sodaattu godhe.

15

Saanduqa Gondooro'oo Gara Yerusaalemii Geessane

¹ Daawiti qachaa ifii keessatti mana ijaarrateen duuba, Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaatiif addee qopheessee, dunkaanii dhaabeef.

² Achiin duuba Daawiti, «Mootiin Waan Maraa, Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa akka ba'atanuuf, haga bara baraa isa akka tajaajilanu, Lewwoota waan filateef, isaan malee nami tokkolle Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa hin ba'atu» jedhe.

³ Daawiti Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa san, gara addee inni isi'iif qopheessee akka fidanuuf Israa'eloota mara Yerusaalemitti wolitti qabe.

⁴ Inni sanyii Aaroniitii fi Lewwootalle wolitti qabe.

⁵ Worri inni wolitti qabe, sanyii Qehaatii keessaa soorressa Urii'elii fi firoota isaa nama dhibba tokkoo fi diddama,

⁶ sanyii Meraarii keessaa soorressa Asaaya'aa fi firoota isaa nama dhibba lamaa fi diddama,

⁷ sanyii Gershoomii keessaa soorressa Yo'elii fi firoota isaa nama dhibba tokkoo fi soddoma,

⁸ sanyii Eliizaafaanii keessaa soorressa Shemaa'iyaa fi firoota isaa nama dhibba lama,

⁹ sanyii Kebroonii keessaa soorressa Elii'elii fi firoota isaa nama saddeet-tama,

¹⁰ sanyii Uzii'elii keessaa soorressa Aminaadaabii fi firoota isaa nama dhibba tokkoo fi kudhanii lama.

¹¹ Achiin duuba Daawiti hayyoota lama Zaadoqii fi Abiyaataar, akkasuma Lewwoota jaa Urii'el, Asaayaa, Yo'el, Shemaa'iyaa, Elii'elii fi Aminaadaab waamee,

¹² «Isin soorressitoota maatii Lewwootaa ti. Saanduqa Gondooro'oo Ka Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii, gara addee ani isi'iif qopheessee fidiisaaf, ifii fi fira keessanille woyyoonsa'a.

¹³ Yennaa qaraa isin Lewwooti Saanduqa Gondooro'oo hin ba'anne; nuu-tille akka ajaja isaatitti isa hin barbaanne. Tanaaf Mootiin Waan Maraa Waaqi keenaa aarii ifii nu irratti bobeesse» jedhee dubbate.

¹⁴ Maarre hayyootii fi Lewwooti, Saanduqa Gondooro'oo Ka Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii fidiisaaf, ifi woyyoonsane.

¹⁵ Muuseen akka jecha Mootii Waan Maraatiitti akkuma ajaje, Lewwooti Saanduqa Gondooro'oo ta Waaqaa san danqara'aan gurmuu ifii irratti ba'atane.

¹⁶ Daawiti itti dabalee soorressitooti Lewwootaa, namoota meya faaru'uutiin, maseenqoon, kiraara guddichaan, sibiila wolitti dhowamee qoonqoo guddoo dhageessisuun, faaruu nama gammachiittu akka faarfatanu fira ifii keessaa akka filanu ajaje.

¹⁷ Maarre worri Lewwootaa ilma Yo'elii Hemaan, fira isaa keessaa ilma Berekiya'aa Asaafii fi ilma Qushaaya'aa Etaan filatane.

¹⁸ Isaan wolille'een sadarkaa lammeesso'ootitti fira isaanii ka filamane Zakaariyaas, Ya'aasi'el, Shemiiraamoot, Yehii'el, Unii, Eliiyaab, Benaayaa, Ma'aseyaa, Matiitiyaa, Eliifelehuu, Miiqneyaa, Obed-Edoomii fi Yeyi'el worra karra eegu godhane.

¹⁹ Worri faarfatu Hemaan, Asaafii fi Etaan worra sibiila sageettu'uu wolitti dhowanee qilillisiisan.

²⁰ Zakaariyaas, Azii'el, Shemiiraamoot, Yehii'el, Uniin, Eliiyaab, Ma'aseyaanii fi Benaayaan, maseenqoo akka qoonqoo dubartootaa ta ol qabataneetitti dhowan.

²¹ Matiitiyaan, Eliifelehuun, Miiqneyaan, Obed-Edoom, Yeyi'elii fi Azaziyaan kiraara guddicha dhowan.

²² Qayinaaniin Lewwichi sooreessa faarsitootaa itti gaafatamaa faaru'uu ti; inni beekkicha faaru'uu ti.

²³ Berekiyaanii fi Elqaanaan eeddota karra Saanduqa Gondooro'oo ti.

²⁴ Hayyooti Shebaniyaan, Yoshaafaax, Nataani'el, Amaasaayi, Zakaariyaas, Benaayaanii fi Eli'ezer Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa duratti tultullaa afuufan. Obed-Edoomii fi Yehiyyaan eeddota karra Saanduqa Gondooro'oo ti.

²⁵ Maarre Daawiti, jaarsoleen Israa'eliitii fi ajajjooti kumaa, Saanduqa Gondooro'oo Ka Mootii Waan Maraa mana Obed-Edoomiitii fidiisaaf gammada gudda'aan dhaqane.

²⁶ Waaqi Lewwoota Saanduqa Gondooro'oo Ka Mootii Waan Maraa ba'atane san waan qarqaareef, isaan korommii torbaa fi korbeeyyii hoole'ee torba ciincaa dhikeessane.

²⁷ Daawiti gaafas akkuma Lewwoota Saanduqa Gondooro'oo ba'atanuu, akka faarsitootaati fi akka Qayinaanii itti gaafatamaa faarsitootaa, woyaa quncee talba'aa dansaa irraa hujante uffateeraayyu; itti dabaleelle woyaa dirata qomaa ta quncee talba'aa irraa hujate uffateeraayyu.

²⁸ Maarre Israa'elooti marti ilillisa, gaafa korbeeyyii hoole'eetii fi tultullaa afuufaa, sibiila wolitti dhowaa qilillisiisaa, kiraara guddichaa fi maseenqoo dhowaa, Saanduqa Gondooro'oo Ka Mootii Waan Maraa fidane.

²⁹ Yennaa Saanduqi Gondooro'oo ka Mootii Waan Maraa gara qachaa Daawitii gale, intalti Saa'olii Mikaal foddaa manaatiin gad ilaaltee, mootichi Daawiti firinxiixee sirbuun yennaa dhaggite, gadhaa ifii keessatti isa tuffatte.

16

¹ Isaan Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa fidanee, dunkaanii Daawiti dhaabeef keessa keyane; achiin duuba kennansa gubamuu fi kennansa tokkumma'aa Waaqaaf dhikeessane.

² Daawiti kennansa gubamuu fi kennansa tokkumma'aa Waaqaaf dhi-keessee fixeen duuba, maqaa Mootii Waan Maraatiin kolbaa eebbise.

³ Inni Israa'eloota tokko tokkoof dhiiraa fi dubarti'iif, xaltaa daabbo'oo tokko tokko, foon gumaa tokko tokko, bixee midhaan woyni'ii tokko tokko hireef.

⁴ Daawiti Lewwoota keessaa worra garii ka Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa duratti tajaajilanuu fi ka Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii gaafatanu, ka galateeffatanuu fi leellifatanu file.

⁵ Sooressi isaanii Asaaf, itti aanaan Zakaariyaas; worri maseenqoo'oo fi kiraara guddicha dhowanu Yeyi'el, Shemiiraamoot, Yehii'el, Matiitiyaa, Eliiyaab, Benaayaa, Obed-Edoomii fi Yeyi'el; Asaaf sibiila wolitti dhowee qilillisiisa.

⁶ Hayyooti Benaayaanii fi Yahaazi'el yennaa mara, Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa duratti tultullaa afuufan.

⁷ Guyyaa san faaruun galataa ta Mootii Waan Maraa ta Daawiti qara Lewwootii fi Asaaf akka faarfatanu itti kenne ta asii gad jirtu:

- ⁸ Mootii Waan Maraa galateeffadha'a;
 maqaa isaa waammadha'a;
 Waan inni godhelle
 odduu gosa biyya adda addaatitti beessisa'a.
- ⁹ Isa faarfadha'a; isa leellifadha'a
 hujii isaa ta maade'ee hima'a.
- ¹⁰ Maqaa isaa woyyichaan bondhoora'a;
 worri Mootii Waan Maraa barbaadu
 firinxiixuu ti.
- ¹¹ Mootii Waan Maraatii fi
 hunna isaa barbaada'a;
 Yennaa mara fuula isaa barbaadadha'a!
- ¹² Hujii maade'ee ta inni huje,
 baasa isaatii fi
 muraa inni kennelle qaabadha'a.
- ¹³ Ee, isin sanyiin Yaaqoobii tajaajilaa Waaqaa,
 isin sanyii Israa'elii,
 ta Waaqaaf filatantane,
- ¹⁴ Inni Mootii Waan Maraa Waaqa keenna;
 muraan isaa lafa mara hin dhaqqaddi.
¹⁵ Inni Gondooroo ifii haga bara baraa,
 ajaja ifille haga dhaloota kumaa hin yaadata.
- ¹⁶ Gondooroo Abrahaam woliin gondoorate,
 kakuu Yisihaqiif waadaa gale hin eegata.
- ¹⁷ Tun Yaaqoobiif seerata jabaa,
 Israa'eliifille Gondooroo bara baraa
 akka teetuuf godhe.
- ¹⁸ Inni, «Qooda dhaala sanyii teetii akka teetuuf,
 lafa Kana'aanii si'iif hin kenna» jedhe.
- ¹⁹ Yennaa san laakkossi isaanii hin bacanne,
 isaan nama diqqaa lafa sanitti alagaa te'e.
- ²⁰ Gosa biyya tokkoo irraa
 gara gosa biyya tokkootitti,
 mootummaa tokko irraa
 gara mootummaa tokkootitti daaqane.
- ²¹ Inni nami tokkolle
 akka isaan cunqursu hin lakkinne;
 inni isaaniif jedhee moototaayyuu xixee,
- ²² «Worra ani muude hin tuqina'a;
 raagota tiyyalle hin miidhina'a» jedhe.
- ²³ Biyyi lafaa martinuu
 Mootii Waan Maraatiif faarfadha'a;
 fayyisuu isaalle guyyuma guyya'aan odeessa'a.
- ²⁴ Gosa biyya adda addaa oddu'utti ulfinna isaa,
 kolbaa mara oddu'utti
 hujii baasa isaa ta baasaa lassa'a.
- ²⁵ Mootiin Waan Mara guddaa waan te'eef
 guddoo leellifamuu qaba;

- waaqota mara caalaa sodaatamuu qaba.
- 26 Waaqoti gosa biyya adda addaa marti
waaqota dharaa ti;
Mootiin Waan Maraa ammoo
ka ol-gubbaa dade.
- 27 Ulfinnaa fi arnyi fuula isaa dura
jabeennii fi gammadi addee bultoo isaa jiran.
- 28 Ee, isin firri gosa biyya adda addaa
Mootii Waan Maraa leellisa'a;
ulfinnaa fi jabeenna isaalle leellisa'a.
- 29 Ulfinna maqaa Mootii Waan Maraa leellisa'a;
kennansa fida'aatii isa dura dhikaadha'a.
Ulfinna woyyummaa isaatiif,
Mootii Waan Maraa waaqonfadha'a.
- 30 Lafa mara isa duratti sheephisa'a;
Biyyi lafaa jabaattee dhaabbatteerti;
isiin ijjumaa hin tachootu.
- 31 Ol-gubbaan gammadduu ti;
lattille firinxiixxuu ti.
Kolbaan gosa biyya adda addaa oddu'utti,
«Mootiin Waan Maraa mowe» jettuu ti.
- 32 Abbaaya'aa fi wonni isii keessaa marti
shookkisanuu ti;
ficha'aa fi wonni isa keessaa marti
firinxiixanuu ti.
- 33 Mootiin Waan Maraa
biyya lafaa irratti muriisaaf waan dhufuuf,
mukooti gongoma'aa gammadaa
isa duratti faarsanuu ti.
- 34 Maganne'e, Mootiin Waan Maraa
dansaa waan te'eef,
jaalalli isaa ka haga bara baraa waan te'eef,
isa galateessa'a.
- 35 Isin, «Nuuti maqaa keeti woyyicha
akka galateeffannuuf,
ulfinna keeti akka leellifannuuf,
ee, Waaqa fayyisaa keenna,
ati gosa biyya adda addaa harkaa nu baasiitii,
wolitti nu qabi» jedhaalle'e.
- 36 Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii
haga bara baraa leellifamuu ti.
Achiin duuba kolbaan marti, «Ameen!
Mootiin Waan Maraa leellifamuu ti» jette.
- 37 Asaafii fi Lewwooti akka isaa Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa duratti,
guyyuma guyya'aan akka tajaajilanu, Daawiti achitti isaan lakkise.
- 38 Akkasuma ammalle Obed-Edoomii fi Lewwooti akka isaa namooti
jaatamii saddeeti, ilmi Yedutuu Obed-Edoomii fi Hosaah karra akka ee-
ganuuf achitti isaan lakkise.
- 39 Zaadoqii Hayyichaa fi hayyoota akka isaa, Dunkaanii Woldeenna'aa
ta Mootii Waan Maraa ta addee waaqonfanna'aa ta Giibe'on keessa jirtu
duratti,

⁴⁰ guyyaa mara ganamaa fi galgala, akkuma seera Mootiin Waan Maraa Israa'eliif kenne keessatti barreeffametti, addee ciinca'aa irratti kennansa gubamu Mootii Waan Maraatiif akka dhikeessanuuf, Daawiti achitti isaan lakkise.

⁴¹ Isaan wolille'een Hemaan, Yedutuu fi worri dhibiin hafe ka filame, «Jaalalli Mootii Waan Maraa ka bara baraa ti» jedhaa faarsulle waliin jiraniyyu.

⁴² Hemaanii fi Yedutuun itti gaafatantoota meya ittiin Waaqa faarfatanuu, ka tultulla'aatii fi sibiila wolitti dhowanee qilillisiisanuu te'ane. Ilmaan Yedutuu eeddota karra dalleyaa te'ane.

⁴³ Achiin duuba kolbaan marti gara mana ifii galte; Daawitille maatii ifii eebbisiisaaf gara mana ifii dhaqe.

17

Gondooroo Mootiin Waan Maraa Daawiti Waliin Godhate

¹ Daawiti mana mootummaa ifii keessa qubateen duuba, inni raagicha Naataaniin, «Kunoo, ani mana muka hindheensaatiin ijaarame keessa le'a; Saanduqi Gondooro'oo Mootii Waan Maraa ammoo dunkaanii jala jira» jedhe.

² Naataanille deebisee Daawitiin, «Waaqi si waliin waan jiruuf, waan gadhaan keeti yaade mara godhi» jedhe.

³ Halkanuma san jechi Mootii Waan Maraa gara Naataanii dhufee,

⁴ «Dhaqiitii tajaajilaa kiyya Daawitiin, «Mootiin Waan Maraa: mana ani keessa le'u ka naaf ijaaru si'ii moti.

⁵ Ani bara Israa'eloota biyya Gibxi'ii keessaa baaseen jalqabee haga ammaatitti, dunkaanii takkaa irraa gara dunkaanii taaniititti, addee quttumaa takka irraa gara addee quttumaa taanitti deeme malee, mana keessa hin leene.

⁶ Israa'eloota mara waliin lafa dhaqe maratti, abbootii mura'aa ta Israa'elii worra ani kolbaa tiyya akka eeganuuf ajaje keessaa tokkolle'een: muka hindheensaatiin maaf mana naa ijaaru didde? jedhee beekaa?

⁷ «Tanaaf, amma ati garbicha kiyya Daawitiin: Mootiin Waan Maraa ka Waan Mara Dade: Ati kolbaa tiyya Israa'el akka bulchituuf, adoo ati hoolee tissituu tika keessaa si fudhadhe.

⁸ Lafa ati dhaxxe maratti si waliin jiraayyu; diinota keeti maralle fuula keeti duraa balleesse. Ammalle akka maqaa namoota gugurdaa biyya lafaa keessaa akka maqaa tokkocha maqaa keeti hin godha.

⁹ Kolbaa tiyya Israa'eliif addee hin kenna; isaan hin sarbamanu; biyya ifii keessa hin le'an. Haganaa achi namooti hamooleen akka yennaa durii san isaan hin cunqursanu.

¹⁰ Yennaa ani abbootii mura'aa kolbaa tiyya Israa'eliif kaaseen jalqabane, ka isaan cunqursane, deebi'ane isaan hin cunqursanu; diinolee teeti mara gad hin deebisa. Mootiin Waan Maraa mootummaa sanyii teetii jabeessee akka dhaabu ani sitti hima.

¹¹ Barri keeti geyee duutee, abbootii teeti biratti yennaa awwaalantu, sanyii teeti keessaa ilma keeti tokkocha addee teetitti mootii hin godha; mootummaa isaalle hin jabeessa.

¹² Inni mana naaf hin ijaara; anille barcumaa mootummaa isaa haga bara baraa hin jabeessa.

¹³ Ani abbaa isaa hin te'a; inni ilma kiyya hin te'a. Mooticha si'iin duraa irraa jaalala kiyya ka bara baraa akka kaase, ilma keeti irraa jaalala kiyya ka bara baraa hin kaasu.

¹⁴ Inni kolbaa tiyya irratti, mootummaa tiyya irralle'etti bara baraan jabaatee akka dhaabbatu hin godha; barcumaan mootummaa isaalle bara baraan jabaatee hin jiraata» jedhi» jedhe.

¹⁵ Naataan dubbii mudhi'ii tana mara Daawititti hime.

Daadimata Daawitii

¹⁶ Achiin duuba Daawitiin mootichi ol seenee Mootii Waan Maraa dura tee'ee, «Ee Mootii Waan Maraa Waaqa, ati as ka na geessitte, anii fi maatiin tiyya eennu?

¹⁷ Ee Waaqa, tun si duratti akka hin geennee laakkottee, sanyiin tajaajilaa keetii gara duraa maan te'uu akka jirtu dubbatteerta. Ee Mootii Waan Maraa Waaqa, ati akka waan ani nama mara caalaa ulfinna qabuutitti na ilaalteerta.

¹⁸ Ati ana tajaajilaa keeti hin beetta; marroo ulfinna ati ana tajaajilaa keetiif kenniteef tana caalaa maan jechuu dande'a ree?

¹⁹ Ee Mootii Waan Maraa, tajaajilaa keetiif jettee akka fedha keetiititti, waan guddoo tana gooteerta; waadaa guddaa kana maralle beessitteerta.

²⁰ Ee Mootii Waan Maraa, akkuma nuuti gurra keennaan dhageenne ka akka keetii tokkole hin jiru; si malee Waaqi dhibiin hin jiru.

²¹ Kolbaan ati teeti godhatiisaaf wodatte kolbaa Israa'elii malee, kolbaan dhibiin hin jirtu; kolbaa teeti ta Gibxi'ii baatte tana duraa gosa biyya adda addaa ariitee baatee, hujii teeti guddo'oo fi sodaachittu'uun maqaa keeti akka beekkamu goote.

²² Ee Mootii Waan Maraa, ati kolbaa Israa'elii haga bara baraa teeti godhattee, Waaqa isaanii teete.

²³ «Ammalle, ee Mootii Waan Maraa, marroo ana tajaajilaa keetiitii fi marroo sanyii tiyyaatiifille waadaan galte haga bara baraa jabaatee dhaabbatuu ti; akkuma dubbatte tolchi.

²⁴ Guddinni maqaa keetii kunille haga bara baraa akka beekkamu waadaan ati galte kun jabaatee dhaabbatuu ti. Yennaa san namooti, «Mootiin Waan Maraa ka Waan Mara Dade, Waaqi Israa'elii dhugumaan Waaqa Israa'elii ti» hin jedhan. Sanyiin ana tajaajilaa keeti Daawitiille si duratti jabaatee hin dhaabbatti.

²⁵ Ee Waaqa kiyya, ati sanyii ana tajaajilaa keetii haga bara baraa jabaatee akka dhaabbattu, mudhi'iin waan natti dubbatteef, ani tajaajilaan keeti gara keeti daadimatiisaaf, jajjabeenna dhaggadheera.

²⁶ Ee Mootii Waan Maraa, ati Waaqa; ati ana tajaajilaa keetiif waadaa dansaa kana galteerta.

²⁷ Ati sanyii ana tajaajilaa keetii, haga bara baraa fuula keeti duratti eebbisiisaaf jaalatteerta. Ee Mootii Waan Maraa, ati waan isii eebbifteef, isiin haga bara baraa hin eebbifanti» jedhe.

18

Daawiti Diina Ifii Injifate

¹ Achiin duuba mootichi Daawiti worra Filisxeemotaa lolee injifatee, qachaa Gaatiitii fi olloota adaala isaa harka worra Filisxeemotaatii baase.

² Daawiti Mo'aabotalle injifatee, isaan tajaajiltoota isaa te'anee, gibiralle isaaf fidane.

³ Daawiti itti dabalee lafa laga Efraaxiisii bira jirtu lolee harkatti galfatiisaaf yennaa dhage, mooticha Zoba'aa Hadaad-Ezer haga qachaa Haamaatii dhagee lole.

⁴ Daawiti garreettaa fardaan harkifamu ka isaa kuma tokko, abbootii fardo'oo ka isaa kuma torbaa fi loltoota isaa ta miilaa kuma diddama booji'e.

Inni fardoolee garreettaa harkittu dhibba tokko qofa hamburee, fardoolee hafane kaan mogolee kukkutee naaffise.

⁵ Namooti Sooriya'aa ka Damaasqoo keessa le'anuu, mooticha Zoba'aa Hadaad-Ezer qargaariisaaf yennaa dhufane, Daawiti lolee isaan keessaa namoota kuma diddamii lama ijjeese.

⁶ Achiin duuba inni lafa isaanii keessatti quttuma loltootaa dhaabee, worri Sooriya'aa isaan bulanee gibira isaaf geessane. Mootiin Waan Maraa addee dhage maratti injifannoo Daawitiif kenne.

⁷ Daawiti wontee worqi'ii ta qondaaltoti Hadaad-Ezerii qabattu fudhatee, gara Yersaaleemii geesse.

⁸ Inni ammalle qachoota Hadaad-Ezerii ka, «Xibhaatii fi Chuun» jedhamanu keessaa sageettuu bacaaf fudhate. Mootichi Solomoon sageettuu saniin waabaa bisaanii, utubootaa fi meya sageettu'uu ka adda addaa huje.

⁹ Mootichi Haamaatii To'i, akka Daawiti loltoota Hadaad-Ezerii mooticha Zoba'aa mara injifate yennaa dhage'e,

¹⁰ ilma ifii Hadoraam akka dhagee Daawitii mooticha nageya fuudhee, «Baga gammadde» jedhuuf gara Daawitii mootichaa erge; To'i yennaa hedduu Hadaad-Ezeriin wol loleeraayyu. Hadoraamille kennansa meya adda addaa ka worqii irraa, meeti'ii fi sageettuu irraa hujame isaaf geesse.

¹¹ Daawitiin mootichi meya kanalle akkuma yennaa meeti'itii fi worqii kolbaa Edoomii, kolbaa Mo'aabii, kolbaa Amoonii, kolbaa Filisxeemotaatii fi Amaaleqii booji'ee fudhate godhe, Mootii Waan Maraatiif adda baase.

¹² Abiishaayiin Zeruyaana deette dhooqa sooddaa keessatti namoota Edoomii kuma kudhanii saddeeti ijjeese.

¹³ Daawiti quttuma loltootaa Edoom keessatti dhaabe; worri Edoomiille martinuu isa gabbarane. Mootiin Waan Maraa lafa Daawiti dhage maratti injifannoo isaaf kenne.

Qondaaltota Daawitii

¹⁴ Daawiti Israa'eloota mara irratti mootii te'ee, kolbaa ifii maraaf muraa haqaa kennee, haqaan bulche.

¹⁵ Yo'aabiin Zeruyaana deette, ajajaa loltootaa ti; ilmi Ahiiludii Yoshaafaax itti gaafatamaa mana galme'ee ti.

¹⁶ Ilmi Ahiixubii Zaadoq fi ilmi Abiyaataarii Abiimelek hayyoota te'ane; Shaafshaan ammoo barreessaa mana mootumma'aa te'e.

¹⁷ Ilmi Yehoyaadaa Benaayaan itti gaafatamaa kutaa loltoota mooticha eeganuu ti; ilmaan Daawitii hujii mootummaa isaa keessatti addee ol-aantuu qabaniyyu.

19

Daawiti Worra Amoonotaatii fi Sooriya'aa Injifate

¹ Yennaa diqqo'oon duuba mootichi Amoonotaa Nahaashi duunaan, ilmi isaa addee isaattitti mootii te'e.

² Daawiti, «Abbaan Hanuunii Nahaashi waan dansaa waan naa godheef, anille ilma isaa Hanuuniif waan dansaa hin godha» jedhee, sababa du'a abbaa isaatiif akka isa jajjabeessanuuf namoota itti erge.

Namooti Daawiti erge sun Hanuun jajjabeessiisaaf gara biyya Amoonii yennaa dhufane,

³ qondaaltoti Amoonotaa mooticha Hanuuniin, «Daawiti namoota ergee si jajjabeessiisaan abbaa keetiif ulfinna kennaara seetaa? Namooti isaa biyya qorqorane, mootummaa teeti garagalchiisaaf, lafa dooyiisaaf dhufanee motii ree?» jedhane.

⁴ Maarre Hanuun namoota Daawiti erge san qabee, areeda irraa haadee, woyaa isaanii mudaamuddi'itti irraa muree isaan ari'e.

⁵ Namooti dhaqanee marroo namoota sanii Daawititti yennaa himane, namooti ergamane sun guddoo waan qaanowaneeranuuf, haga areedi isaanii latee guddatutti Yerikoo akka turanuu fi achiin duuba akka deebi'anuu namoota isaanitti erge.

⁶ Hanuunii fi worri Amoonotaa akka Daawiti isaan jibbe yennaa hubatane Aaram Naharaayim, Aaram Ma'akaa fi Zobaa irraa garreettaa fardaan harkifamuu fi worra garreettaa fardaan harkifamu oofu kireeffatiisaaf meetii gara kiiloogiraama kuma soddonii afurii ergane.

⁷ Isaan meetii saniin garreettaa fardaan harkifamu kuma soddonii lamaa fi worra garreettaa fardaan harkifamu oofu, akkasuma mooticha Ma'aka'aa fi loltoota isaa kireeffatane; isaan dhufanee Medebaa bira qubatane; worri Amoonotaa ammoo, qachoota ifii keessaa bayanee wolitti qabamanee lolaaf qophowane.

⁸ Daawiti tana dhage'ee, Yo'aabii fi loltoota gootota mara erge.

⁹ Worri Amoonotaa gad itti bayanee seensuma qacha'aa duratti lolaaf qophowane; moototi isaan qarqaariisaaf dhufanelle qofuu diida keessatti addee qabatane.

¹⁰ Yo'aab duraa fi duuba isaatiin woraanni akka isa marseeru yennaa dhagge, loltoota Israa'elii keessaa loltoota gootota filee, worra Aaramii akka lolanuuf erge.

¹¹ Worra hafane obboleessi isaa Abiishaayi akka ajaju godhe; isaan Amoonota loliisaaf qophowane.

¹² Yo'aab, «Worri Aaramii yoo natti jabaate, ati na qarqaarta; worri Amoonotaa yoo sitti jabaate ammoo ani si qarqaara.

¹³ Jabaadha'a! Kolbaa teennaa fi qachoota Waaqa keennaatiifille jabaanee lolluu ti. Mootiin Waan Maraa waan isa duratti dansaa te'e hin huja» jedhe.

¹⁴ Achiin duuba Yo'aabii fi loltooti isaa worra Aaramii loliisaaf duulane; worri Aaramii isaan duraa baqatane.

¹⁵ Worri Aaramii akka baqatane worri Amoonotaa yennaa dhage'ane, isaanille obboleessa Yo'aabii Abiishaayi duraa baqatane, gara qachaa ifii deebi'ane seenane. Achiin duuba Ya'aab gara Yersaaleemii deebi'e.

¹⁶ Worri Aaramii Israa'elootaan akka injifatamane yennaa dhaggane, namoota erganee worra Aaramii ka laga Efraaxiisiitiin gama jiranu waammatane; Ajajaan loltoota Hadaad-Ezerii Shofaak isaan sooresse.

¹⁷ Daawiti tana yennaa dhage'e, loltoota Israa'elii mara wolitti qabatee Yordaanosiin gamatti bu'ee, gara isaanii dhagee loltoota ifii fuullee isaaniititti lolaaf qopheesse; Worri Aaramii isa lolane.

¹⁸ Te'uu malee, worri Aaramii Israa'eloota duraa baqatane; Daawiti worra Aaramii ka garreettaa fardaan harkifamu oofanu kuma torba, loltoota miilaa kuma afurtama ijeese. Inni ajajaa loltoota isaanii Shofaakille ijeese.

¹⁹ Worri Hadaad-Ezer jala jiranu Israa'elootaan akka injifatamane yennaa dhaggane, Daawiti araara gaafatane isaan bulane. Yennaa sanii jalqabanee worri Aaramii Amoonota qarqaariisatti hin deebine.

20

Daawiti Qachaa Raabaa Qabate

¹ Ji'a furmaataa yennaa moototi duultu, Yo'aab loltoota fuudhee deeme. Inni lafa Amoonotaa balleessee, gara qachaa Raabaalle dhaqee marsee, lolee balleessee. Daawiti ammoo, qachaa Yerusaalemii keessatti hafe.

² Daawiti kallacha waaqa dharaa Miilkomii ka worqii dhakaa gatii guddo'ootiin hujame, ka gara kiiloogiraama soddonii afurii fudhatee, mataa ifii irra keyate. Inni boojuu bacaa qachaa san keessaa fudhate.

³ Namoota qachaa san keessa jiranu gad baasee magaazi'in, qotto'oo fi agara'aan akka hujanu godhe; Daawiti waan kana worra qachaa Amoonotaa keessa le'anuu mara hujisiiseen duuba, loltoota ifii mara waliin gara Yerusaalemii deebi'e.

⁴ Achiin duuba Israa'elooti worra Filisxeemotaa waliin Gezeritti wol lolane. Yennaa san nami lafa Hushaa Siibekaayi sanyii Refaa'otaa keessaa namicha, «Siiphaayi» jedhamu tokko ijjeese; Worri Filisxeemotaalle injifatanne.

⁵ Ammalle lola worra Filisxeemotaa waliin wol lolane ka dhibii keessatti, ilmi Yaa'iirii Elhaanaan, obboleessa Goliyaadii Gaatichaa ka, «Laahim» jedhamu ka eboo somey isi'ii haga muka worri woyaa dhowu, woyaa dhowu san itti maruu geettu qabu ijjeese.

⁶ Akkasuma lola Gaatii ka dhibii keessatti nama akka malee furdatu, ka sanyii Refaa'otaa te'e, ka harka ifii tokko tokkoo fi miilla ifii tokko tokkooyyuu irraa quba jaa jaa, wolumatti quba diddamii afur qabu tokko jiraayyu.

⁷ Yennaa inni Israa'elootatti murge, ilmi Shime'ee Yonaataan obboleessi Daawitii isa ijjeese.

⁸ Isaan kun worra sanyii Refaa'ota ka Gaati keessaa, ka Daawitii fi loltooti isaa ijjeesane.

21

Daawiti Loltoota Laakkossiise

¹ Seexanni kolbaa Israa'elii irratti ka'ee, Daawiti akka isaan laakkowu kakkaase.

² Maarre Daawiti Yo'aabii fi ajajjoota loltootaatiin, «Ani laakkossa namoota kiyyaa akka beeku Bersheeba'aa haga Daaniititti Israa'eloota laakkowa'aatii, kowa'aa natti hima'a» jedhe.

³ Yo'aab ammoo deebisee, «Mootiin Waan Maraa kolbaa ifi dachaa dhibba baceessuu ti. Ee gootaa kiyya, ee mootii kiyya, isaan martinuu tajaajiltoota si gootaa kiyyaatiin motii ree? Ati maaf isaan laakkowuu barbaadde? Maaf waan yakkaa te'ee isaanitti laakkowamu itti fidda?» jedhe.

⁴ Te'uu malee ajaji mootichaa Yo'aabitti waan jabaateef, Yo'aab biraa bayee, biyya Israa'elii mara keessa deemeen duuba Yerusaalemiti deebi'ee,

⁵ laakkossa kolba'aa Daawititti hime. Isaan kun Israa'el keessatti loltooti shallaaga'aan loltu miliyoona tokkoo fi kuma dhibba tokko, akkasuma Yihudaa keessatti loltooti shallaaga'aan loltu kuma dhibba afurii fi kuma torbaatamatti jiraayyu.

⁶ Te'uu malee, ajaji mootichaa Yo'aabitti waan hin toliniif, inni gosa Lewwi'iitii fi gosa Beniyaaminii hin laakkonne.

⁷ Waaqi ammoo ajaja kanatti waan hin gammadiniif, Israa'eloota adabe.

⁸ Achiin duuba Daawiti Waaqaan, «Ani gowwumma'aan cubbuu guddoo akkasii waan godheef, cubbuu ana tajaajilaa keetii akka araarantuuf, si gaafadha» jedhe.

⁹ Mootiin Waan Maraa, Gaadii mudhii Daawitiif dhaggutti dubbatee,

¹⁰ «Dhaqiitii Daawitiin, «Mootiin Waan Maraa: Ani filannoo sad si'iif hin kenna; isaan keessaa ka ani sitti fidu tokko filadhu siin jedha» jedhiin» jedhe.

¹¹ Maarre Gaadi gara Daawitii dhagee, «Mootiin Waan Maraa si'ii, «Tokko keessaa filadhu;

¹² beela woggaa sadiif sitti fiduu yookiin ji'a sadiif diina keeti biyya teeti keessa deemee kolbaa teeti balleessu yookiin ergamaan kiyya guyyaa sadiif shallaaga'aan yookiin bala'aan lafa Israa'elii mara keessaa namoota akka fixu filadhu» siin jedha. Amma ka na ergeef deebii akka kennu murteeffadhuutii natti himi» jedhe.

¹³ Daawiti Gaadiin, «Ani muddama hamaa keessa jira. Marartiin Mootii Waan Maraa guddoo waan teeteef, harka Mootii Waan Maraatiin adabamuu naaf woyya malee, harka namootaatitti akka na hin lakkinneef, isa hin daadimadha» jedhe.

¹⁴ Maarre Mootiin Waan Maraa Israa'eloota irratti balaa buusee, namooti kum torbaatam dhumatane.

¹⁵ Waaqi Yerusaalem balleessiisaaf ergamaa ifii erge; ergamaan sun ammoo adoo balleessiisatti jiruu, Mootiin Waan Maraa badii qacha'aa san dhaggee gaddeefii, ergamaa Waaqaa ka kolbaa balleessiisatti jiruun, «Hin geetti; harka keeti irraa deebifadhu» jedhe. Yennaa san ergamaan Mootii Waan Maraa eeddummee Ornaa Yibusichaa bira dhaabbateeraayyu.

¹⁶ Daawiti ol ilaalee, ergamaa Mootii Waan Maraa ka shallaagaa buqqifamee Yerusaalem irratti ol fudhatame harkatti qabatee, wodhakkaa olgubba'aatii fi lafaa dhaabbateeru tokko dhagge. Achiin duuba Daawitii fi jaarsoleen woyaa gaddaa uffatanee adda ifitiin lafatti gad gombifamane.

¹⁷ Daawitiin mootichi Waaqaan, «Kolbaa akka laakkowanu ka ajaje anaa motii ree? Ka cubbuu hujee, dokonkore ana. Isaan worra akka hoole'ee ti; isaan maan godhane ree? Ee Mootii Waan Maraa Waaqa kiyya, adabbiin teeti anaa fi maatii tiyya irratti teetuu ti malee, kolbaa teeti irratti balaa hin buusin» jedhe.

Daawiti Addee Ciinca'aa Ijaare

¹⁸ Achiin duuba ergamaan Mootii Waan Maraa, «Dhaqiitii Daawitiin, «Ka'ii ol bayiitii eeddummee Ornaa Yibusichaa keessatti, addee ciinca'aa Mootii Waan Maraatiif ijaar» jedhi» jedhee Gaadi ajaje.

¹⁹ Maarre Daawiti dubbii Gaadi maqaa Mootii Waan Maraatiin dubbateef ajajamee, ka'ee ol-baye.

²⁰ Ornaan eeddumme'etti qamadii dhowiisatti adoo jiru, garagalee ergamaa Waaqaa dhagge; ilmaan isaa ta isa woliin jirtulle dhokatte.

²¹ Achiin duuba Daawiti gara Ornaa dhufe; Orna yennaa Daawiti dhagge eeddummee san keessaa bayee, Daawiti duratti lafatti gad gombifame.

²² Daawiti Ornaan, «Balaan kun kolbaa tana irra akka hin buuneef, addee ciinca'aa Mootii Waan Maraatiif akka irratti ijaaru, eeddummee teeti gatii guutu'utti natti gurguradhu» jedhe.

²³ Orna deebisee Daawitiin, «Fudhadhu gootaa kiyya, waan feete godhadhu. Kennansa gubamuuf, korommiin tiyya kunoo ti, qoraaniif ulee midhaan ittiin dhowanu, kennaa midhaaniitiif qamadii, ani kana mara hin kenna» jedhe.

²⁴ Mootichi Daawiti ammoo deebisee Ornaan, «Waawwo'o; ani gatii guutu'uun si irraa bitadha malee, waan keeti yookiin waan gatii itti hin baasin Mootii Waan Maraatiif kennansa gubamu hin dhikeessu» jedhe.

²⁵ Maarre Daawiti gatii eeddumme'ee beese worqi'ii dhibba jaa Ornaaf kenne.

²⁶ Daawiti eeddummee san keessatti addee ciinca'aa Mootii Waan Maraatiif ijaaree, kennansa gubamuu fi kennansa tokkumma'aa dhikeessee

Mootii Waan Maraa waammate; Mootiin Waan Maraalle ol-gubbaa irraa addee ciinca'aa irratti ibiddaan deebii isaaf kenne.

²⁷ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa ergamaa san ajaje; ergamaan sun shallaagaa ifii gonofa'atti deebifate.

²⁸ Yennaa san Daawiti eeddummee Ornaa Yibusichaa keessatti Mootiin Waan Maraa deebii akka isaaf kenne yennaa dhagge, achitti ciinca Mootii Waan Maraatiif dhikeesse.

²⁹ Yennaa san dunkaaniin Mootii Waan Maraa ta Muuseen goomolee keessatti hujee fi addeen ciinca'aa ta kennansa gubamuu, addee waaqon-fanna'aa ta gaara Giibe'onii irraa keessa jiraniyyu.

³⁰ Daawiti ammoo shallaagaa ergamaa Mootii Waan Maraa waan sodaateef, achi dhagge Waaqa gaafatiisa hin dandeenne.

22

¹ Achiin duuba Daawiti, «Galmi Mootii Waan Maraa ka Waaqaa as hin te'a; addeen kennansa gubamu Israa'el itti dhikeessitulle as hin teeti» jedhe.

Qophii Ijaarsa Galma Waaqaa

² Maarre Daawiti alagaa lafa Israa'elii keessa le'anuu mara akka wolitti qabamanu ajaje; worra wolitti qabamane san keessaa ijaarsa Galma Waaqaatiif namoota dhakaa bocanee qopheessanu file.

³ Inni sibiila bacaa ka misimaaraa, ka saanqaa karraatii fi ka maaxafa'aa, akkasuma sageettuu bacaa hagana hin jedhanne qopheessee,

⁴ muka hindheensaalle ka laakkossi isaa hagana hin jedhanne, ka worri Xiirroosiitii fi Sidoonii gara isaa fide qopheesse.

⁵ Daawiti, «Ilmi kiyya Solomoon dargaggeessa; muuxannoolle hin qabu; Galmi Mootii Waan Maraatiif ijaaramu miidhagaa, gosa biyya adda addaa duralle'etti beekkama'aa fi lafa maratti ka ulfinna qabu te'uu qaba. Tanaaf, ani waan barbaachisu hin qopheessa» jedhe. Maarre Daawiti du'a ifitiin dura waan ijaarsaaf barbaachisu bacaa qopheesse.

⁶ Achiin duuba ilma ifii Solomoon waamee, Galma Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii akka ijaaru ajaje.

⁷ Daawiti ilma ifii Solomooniin, «Ilma kiyya, ani maqaa Mootii Waan Maraa Waaqa kiyyaatiif Galma ijaariisaaf yaadeeraayyu.

⁸ Ammoo jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee, «Ati duula bacaa duultee, fuula kiyya duratti lafa irratti dhiiga namoota heddu'uu waan dhangalaatteef, ati maqaa kiyyaaf Galma hin ijaartu.

⁹ Kunoo, ilma nageyaatii fi foora si'iif hin kenna. Ani diinota adaala isaa jiranu mara irraa isa hin foofachiisa. Bara mootummaa isaa keessa ani nageyaa fi foora kolbaa Israa'eliitiif waan kennuuf, maqaan isaa Solomoon hin jedhama.

¹⁰ Inni maqaa kiyyaaf Galma hin ijaara. Inni ilma naaf hin te'a; anille abbaa isaaf hin te'a; barcumaa mootummaa isalle Israa'el keessatti haga bara baraa hin jabeessa» jedhe.

¹¹ «Amma, ilma kiyya, Mootiin Waan Maraa si woliin jiraatuu ti; Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti Galma isaa akka ijaartuuf akkuma dubbatetti, inni sii muummessuu ti.

¹² Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti kolbaa Israa'elii irratti yennaa mootii si godhu, akka ajaja isaatitti akka ati isaan bulchituuf, innummaan qarumma'aa fi hubantii si'iif kennuu ti.

¹³ Ati seerata fi seera, Mootiin Waan Maraa karaa Muuse'eetiin kolbaa Israa'elii ajaje jabeessitee yoo eegatte, wonni ati hujju marti siif hin teeti. Jabaadhuu, jajjabaadhu. Hin sodaatin; hin nayinille'e.

¹⁴ Ani ijaarsa Galma Mootii Waan Maraatiif rakkinna gudda'aan worqii kiiloogiraama miliyoonii sadii fi kuma dhibba afurii fi shantama, sageettu kiiloogiraama kuma soddonii afurii fi dhibba shanii fi sibiila dhibii ka kiiloogiraam isaa hagana hin jedhanne, akkasuma mukaa fi dhakaalle qopheesseera. Atille itti ede'i.

¹⁵ Ati hojjattoota bacaa: ka dhakaa bocanu, ka dhakaa muranu, ka muka bocanu qadda; akkasuma ogeeyyii hujii gara garaa

¹⁶ ka hujii worqi'ii, meeti'iitii fi sageettu'uu bacaa qadda. Amma ka'iitii huji! Mootiin Waan Maraa si woliin jiraatuu ti» jedhe.

¹⁷ Daawiti ammalle sooreyyiin Israa'elii marti ilma isaa Solomoon akka qarqaartu ajajee,

¹⁸ «Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan isin woliin jiraa motii ree? Inni karaa maraan isin foorfachiisee motii ree? Inni worra biyya tana keessa le'anuu harka kiyyatti dabarsee waan kenneef, isaan Mootii Waan Maraatiif fi kolbaa isaatiin bulan.

¹⁹ Amma gadhaa keessan tokkoochaa fi lubbuu teessan takkatti'iin Mootii Waan Maraa Waaqa keessan barbaada'a. Saanduga Gondooro'oo Ka Mootii Waan Maraatiif fi meya tajaajila Waaqaatiif adda baafame mara, gara Galma maqaa ka Mootii Waan Maraatiif ijaaramee fiddanee keessa akka keetanuuf, Galma Mootii Waan Maraa ka Waaqaa ijaara'a» jedhe.

23

Lewwoota

¹ Daawiti bara hedduu le'ee yenna dulloome, ilma ifii Solomoon Israa'el irratti mootii godhe.

² Inni soressitoota Israa'elii mara, hayyootaa fi Lewwoota wolitti qabee,

³ dhiira Lewwootaa ta woggaa soddomaa olii laakkossiisee, wolumatti laakkossi isaanii kuma soddonii saddeeti te'e.

⁴ Daawiti, «Isaan san keessaa namooti kum diddamii afur hujii Galma Mootii Waan Maraa hujisiisanu ti; namooti kum jaa qondaaltotaa fi abbootii mura'aa te'anuu ti;

⁵ namooti kum afur karra eeganuu ti; namooti kum afur meya ani akka ittiin leellifatanuuf qopheesseen Mootii Waan Maraa leellifatanuu ti» jedhe.

⁶ Daawiti Lewwoota akka ilmaan Lewwi'ii Gershoo, Qehaatiif fi Meraari-ititti, addee saditti gargar hire.

⁷ Gershoo ilmaan lama La'adaanii fi Shime'ii qabaayyu.

⁸ Ilmaan La'adaanii sadiin angafichi Yehii'el, Zetaamii fi Yo'el.

⁹ Ilmaan Shime'ii sadiin Shelomoot, Hazii'elii fi Kaaraan; isaan sooreyyii maatii La'adaanii ti.

¹⁰ Ilmaan Shime'ii arfan Yaahaat, Ziinaa, Ye'ushii fi Berii'a.

¹¹ Yaahaat angaficha, Ziinaan ka isatti aanu. Ye'ushii fi Berii'a ammoo, ijoollee hedduu waan hin qanneef akka maatii tokkootitti laakkowamane.

¹² Ilmaan Qehaatiif afur: Amraam, Yizhaar, Kebroonii fi Uzii'el.

¹³ Ilmaan Amraamii: Aaronii fi Muuse'e. Aaronii fi sanyiin isaa waan irra caalaa woyyuu te'e eegiisaaf, Mootii Waan Maraatiif ciincaa dhikeessiisaaf, isa tajaajiliisaaf, maqaa isaatiin namoota haga bara baraa eebbisiisaaf adda baafamane.

¹⁴ Ilmaan Muusee nama Waaqaa, akka gosa Lewwi'iititti laakkowamane.

¹⁵ Ilmaan Muuse'ee Gershoomii fi Elii'ezer.

¹⁶ Ilmaan Gershoomii keessaa angafichi Shebu'el.

¹⁷ Ilmi Elii'ezerii angafichi Rehaabiya'a; Elii'ezer ilmaan dhibii hin qabu; Rehaabiyaan ammoo ilmaan hedduu qaba.

- ¹⁸ Ilmaan Yizhaarrii keessaa angafichi Shelomiit.
- ¹⁹ Ilmaan Kebroonii: Angafichi Yeriiya'a; lammeessoon Amaariya'a; sadeessoon Yahaazi'el; arfeessoon Yeqaamii'aam.
- ²⁰ Ilmaan Uzii'elii: angafichi Miika'a; lammeessoon Yishiiya'a.
- ²¹ Ilmaan Meraarii: Maahilii fi Mushi. Ilmaan Maahilii: Ele'azaarii fi Qiish.
- ²² Ele'azaar durra malee ilmaan adoo hin uumatin du'e; durra san ilmaan Qiishii ta obboleessa isaatittuu fuudhe.
- ²³ Ilmaan Mushii sadiin: Maahil, Ederii fi Yeremoot.
- ²⁴ Isaan kun marti gosa Lewwi'ii worra akka maatii maatii isaaniititti, akka soressitoota maatii'ii te'anee adduma addaan barreeffamane; isaan keessaa nami woggaa diddamaa yookiin woggaa diddamaa olii hujii Galma Mootii Waan Maraa keessatti hujamu keessaa worra gooda qabaate.
- ²⁵ Daawiti, «Mootiin Waan Maraa, Waaqi Israa'elii kolbaa ifitiif foora kenneera; inni haga bara baraa Yerusaalem keessa le'a.
- ²⁶ Lewwooti haganaa achi Dunkaanii Woyyittii yookiin meya achi keessatti tajaajila kennu ba'atuu hin barbaachisu» jedhe.
- ²⁷ Akkuma Daawiti muummee irratti dubbate, ilmaan Lewwootaa ta woggaa diddamaa yookiin woggaa diddamaan olii laakkowamane.
- ²⁸ Hujiin Lewwootaa badhinna Galma Mootii Waan Maraatiif fi kolloo Galma Mootii Waan Maraa eegaa, meya woyyicha mara qulqulleessiisa, sanyii Aaronii ta Galma Mootii Waan Maraa keessa tajaajiltu qarqaariisa.
- ²⁹ Ammalle hujiin isaanii daabboo Waaqaaf woyyoontu*, bullaa kennansa midhaanii, daabboo uukoo hin qannelle zayiti'in sukkuumiisaa fi bilcheessiisaan, kennansa zayiti'in wolitti makiisaan, safariisaa fi mikiisaan† qarqaariisa.
- ³⁰ Isaan ammalle ganama maraa fi galgala mara dhaabbatanee Mootii Waan Maraa galateeffataa, leellifataa,
- ³¹ guyyaa Sanbataa mara, baatii ji'aatitti, guyyaa jila beekkamanee, yennaa kennansi gubamu Mootii Waan Maraatiif dhikaatu, akkuma ajajamane laakkossi isaanii adoo hin dhidhatin yennaa mara Mootii Waan Maraa duratti tajaajilaaraniiyyu.
- ³² Akkasitti Lewwooti Dunkaanii Woldeenna'aatii fi Galma Mootii Waan Maraa san keessa waan hujiisaaf itti gaafatamanu muummessan. Isaan hujii firri isaanii ilmaan Aaronii Galma Mootii Waan Maraa keessatti hujanu qarqaarane.

24

Hayyootaaf Ramaddiin Huji'ii Kennante

- ¹ Sanyiin Aaronii akka kanatti ramadamane. Ilmaan Aaronii: Naadaab, Abiihuu, Ele'azaarii fi Itaamaar.
- ² Naadaabii fi Abiihuun ammoo ijoollee adoo hin uumatin, adoo abbaan isaanii hin du'in du'ane; Ele'azaarii fi Itaamaar hayyoota te'anee tajaajilane.
- ³ Qarqaarsa Zaadoqii sanyii Ele'azaariitii fi Ahiimelekii sanyii Itaamaariitiin, akka hujii isaaniititti, Daawiti sanyii Aaronii adda baase.
- ⁴ Maatii Ele'azaarii keessatti dhiirti sooreyyiin dhiira sooreyyii maatii Itaamaarii keessaa caaltee dhaggantee jennaan, akka asii gadiititti ramadamane: Sooreyyiin maatii Ele'azaarii kudhanii jaa; ta maatii Itaamaarii saddeeti.

* **23:29** *Daabboo Waaqaaf woyyoontu:* Daabboon tun akka seera bara saniititti ta Waaqaaf xarapheessaarra keyanu † **23:29** *Mikiisaan:* Hagam akka dheerattu yookiin gabaabbattu meesha'aan ilaaliisa

⁵ Maatiin Ele'azaariitii fi maatiin Itaamaarii qondaaltota Dunkaanii Woyyitti'iitii fi qondaaltota Waaqaa waan te'aneef, hixaa buusiisaan ramaddiin huji'ii isaaniif kennante.

⁶ Barreessaan Lewwootaa ilmi Nataani'elii Shemaa'iyaan Lewwichi mootichaa fi qondaaltota, hayyicha Zaadoq, ilma Ahiimelekii Abiyaataar, sooreyyii hayyootaatii fi Lewwootaa duratti, maqaa maatii Ele'azaariitii fi maatii Itaamaarii badoo bado'oon akka hixaa isaaniititti barreesse.

⁷ Hixaan qaraa Yehoyaariibiif, ka lammeesso'oo Yedaa'iya'aaf,

⁸ ka sadeesso'oo Haariimiif, ka arfeesso'oo Se'oriimiif,

⁹ ka shaneesso'oo Malkiyyaaf, ka jayeesso'oo Miiyaamiiniif,

¹⁰ ka torbeesso'oo Haqoziif, ka saddeetesso'oo Abiyyaaf,

¹¹ ka sagaleesso'oo Yeshu'aaf, ka kudhaneesso'oo Shekaaniya'aaf,

¹² ka kudhanii tokkeesso'oo Eliyaashiibiif, ka kudhanii lammeesso'oo Yaaqiimiif,

¹³ ka kudhanii sadeesso'oo Huphaadhaaf, ka kudha arfeesso'oo Yeshebi'aabiif,

¹⁴ ka kudhanii shaneesso'oo Bilgaaf, ka kudhanii jayeesso'oo Iimeriif,

¹⁵ ka kudhanii torbeesso'oo Heziiriif, ka kudha saddeetesso'oo Haphizeziif,

¹⁶ ka kudhanii sagaleesso'oo Phetaayaaf, ka diddameesso'oo Yihsaqeliif,

¹⁷ ka diddamii tokkeesso'oo Yaakiiniif, ka diddamii lammeesso'oo Gaamuliif,

¹⁸ ka diddamii sadeesso'oo Delaayaaf, ka diddamii arfeesso'oo Ma'aaziyaaf bu'e.

¹⁹ Isaan kun akkuma Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii isa ajajetti, akka abbaan abbootii isaanii ta durii Aaron tarreessetti, yennaa Galma Mootii Waan Maraa keessa seenanu seerati hujii isaaniif kenname kana.

Lewwootaa Dhibii

²⁰ Sanyiin Lewwi'ii dhibiin ta asii gad jirtu: Sanyii Amraamii keessaa Shubaa'el; Sanyii Shubaa'elii keessaa Yedaa'iya'a.

²¹ Sanyii Rehaabiya'aa keessaa angaficha Yishiiya'a.

²² Yizhaarota keessaa Shelomoot; sanyii Shelomootii keessaa Yaahaat.

²³ Ilmaan Kebroonii: Soressi Yeriiyaa, ka lammeesso'oo Amaariyaa, ka sadeesso'oo Yahaazi'el, ka arfeesso'oo Yeqaamii'aam.

²⁴ Ilmi Uzii'elii Miika'a; ilmaan Miikaa keessaa Shaamiir.

²⁵ Yishiiyaan obboleessa Miika'aa ti; ilmaan Yishiiyaa keessaa Zaakaariyaas.

²⁶ Ilmaan Meraarii Maahilii fi Mushii; Benoon ilma Ya'aziiyaa ti.

²⁷ Sanyii Meraarii keessaa ilmaan Ya'aziiyaa: Shohaam, Zaakurii fi Ibri.

²⁸ Maahil Ele'azaar uumate; Ele'azaar ilmaan hin uumanne.

²⁹ Sanyii Qiishii keessaa, ilma Qiishii Yeraami'el.

³⁰ Ilmaan Mushii: Maahil, Ederii fi Yeremoot; isaan kun sanyii Lewwootaa worra akka maatii maatii abbootii isaaniititti sooreyyii te'ane.

³¹ Isaanille akkuma fira ifii sanyii Aaronii addee mootichi Daawiti, Zaadoqqii fi Ahiimelek, sooressitooti hayyootaatii fi Lewwooti jiranutti, sooreyyiin maatii tokko tokkoon isaaniituu gudda'aa haga diqqa'aatitti woluma qixxee hujii hujii ifiititti ramadamiisaaf hixaa buufatane.

¹ Daawitiin mootichi ajajjoota loltootaa waliin sanyii Lewwootaa keessaa ilmaan Asaafii, ilmaan Hemaaniitii fi ilmaan Yedutuu keessaa namoota kiraaraan, kiraara guddichaa fi sibiila wolitti dhowamee qoonqoo guddoo dhageessisuun qarqaaramanee waan Waaqi isaanitti mudhisu faaru'uun dhageessisanu filee adda baase. Maqaan namoota hujii tanaaf filamanee asii gad jira:

² Ilmaan Asaafii keessaa: Zaakur, Yoseef, Nataaniya'aa fi Asari'ela'a; isaan harka Asaafii jala jiran; Asaaf harka Daawitii mootichaa jala jira.

³ Ilmaan Yedutuu keessaa: Gedaaliyaa, Zerii, Yeshaa'iyaa, Shime'ii, Hashabiiya'aa fi Matiitiya'a; isaan jaan kun harka abbaa ifii Yedutuu jala jiran; abbaan isaanii kiraaraan Mootii Waan Maraa galateeffatiisaan, leel-lisiisalle'een waan inni isatti mudhise dhageessise.

⁴ Ilmaan Hemaanii keessaa: Bukiiyaa, Mataaniyaa, Uzii'el, Shebu'el, Yermoot, Hanaaniyaa, Haanaan, Elii'aataa, Gidaalti, Romamtii-Ezer, Yosh-bagaashaa, Malootii, Hotiirii fi Mahaazi'oot.

⁵ Isaan kun marti ilmaan Hemaanii ka mootichaaf mudhii dhagguu ti; Waaqi ulfinna guddaa Hemaaniif kenniisaaf, akkuma waadaa galetti, ilmaan kudhanii afurii fi durra sad isaaf kenne.

⁶ Namooti kun marti akka ajaja abbootii ifiititti Galma Mootii Waan Maraa keessatti sibiila wolitti dhowamee qoonqoo guddoo dhageessisuun, kiraara guddichaa fi maseenqoon tajaajilane. Asaaf, Yedutuu fi Hemaan ajaja mootichaa jala jiraniyyu.

⁷ Fira isaanii waliin namooti meya faaru'uutiin Mootii Waan Maraa faarfatiisa leenji'ane, wolumatti namoota dhibba lamaa fi saddeettamii saddeeti.

⁸ Isaan ramaddii hujii ifii beekiisaaf jaarsa yookiin ijoollee, barsiisaa yookiin barataa adoo hin jedhin, marti isaanii woluma qixxee hixaa buufatane.

⁹ Hixaan qaraa maatii Asaafii keessaa Yoseefiif, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf, ka lammeesso'oo Gidaaliya'aaf, fira isaatii fi ilmaan isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,

¹⁰ ka sadeesso'oo Zakuriif, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,

¹¹ ka arfeesso'oo Izriif, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,

¹² ka shaneesso'oo Nataaniya'aaf, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,

¹³ ka jayeesso'oo Bukiiya'aaf, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,

¹⁴ ka torbeesso'oo Yeshari'ela'aaf, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,

¹⁵ ka saddeetesso'oo Yeshaa'iya'aaf, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,

¹⁶ ka sagaleesso'oo Mataniya'aaf, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,

¹⁷ ka kudhaneesso'oo Shime'iif, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,

¹⁸ ka kudhanii tokkeesso'oo Azaari'eliif, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,

¹⁹ ka kudha lammeesso'oo Hashabiiya'aaf, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,

²⁰ ka kudhanii sadeesso'oo Shubaa'eliif, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,

²¹ ka kudhanii arfeesso'oo Matiitiya'aaf, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,

²² ka kudhanii shaneesso'oo Yeremootiif, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,

²³ ka kudha jayeesso'oo Hanaaniya'aaf, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,

²⁴ ka kudhanii torbeesso'oo Yoshbaqaasha'aaf, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,

²⁵ ka kudhanii saddeetesso'oo Hanaaniif, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,

²⁶ ka kudhanii sagaleesso'oo Malootiif, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,

²⁷ ka diddameesso'oo Eliyaata'aaf, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,

²⁸ ka diddamii tokkeesso'oo Hotiiriif, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,

²⁹ ka diddamii lammeesso'oo Gidaaltiif, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,

³⁰ ka diddamii sadeesso'oo Mahaazi'ootiif, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,

³¹ ka diddamii arfeesso'oo Romamtii-Ezeriif, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf bu'e.

26

Eeddota Karra Galma Waaqaa

¹ Worri karra Galma Waaqaa eeguu ka asii gad jiru: Fira Qoraahotaa, ilmaan Asaafii keessaa tokko Meshelemiyaa ilma Qoree ti.

² Meshelemiyaan ilmaan torba uumate; angafichi Zakaariyaas; lammeessoon Yidiiya'el, sadeessoon Zabaadiyaa, arfeessoon Yatnii'el,

³ shaneessoon Elaam, jayeessoon Yihohaanaan, torbeessoon Elyo'enaayi.

⁴ Obed-Edoomille ilmaan uumate: Angafichi Shemaa'iyaa, lammeessoon Yihozaabaad, sadeessoon Yo'aa, arfeessoon Saakaar, shaneessoon Nataani'el,

⁵ jayeessoon Amii'el, torbeessoon Yisaakor, saddeetessoon Phe'ultaayi. Kanaan Waaqi isa eebbise.

⁶ Ilmi angafichi Obed-Edoomii Shemaa'iyaalle ilmaan jaa uumate; isaan dandeettii guddoo waan qabanuuf, sooreyyii maatii abbootii ifii te'ane.

⁷ Ilmaan Shemaa'iyaa: Otnii, Refaa'el, Obed, Elzaabaad, Eliihuu fi Semaakiya'a; obboleeyyan Elzaabaadii Eliihuunii fi Semaakiyaan dhiira gootota te'ane.

⁸ Isaan marti sanyii Obed-Edoomii ti; isaan, ilmaan isaaniitii fi firri isaanii marti worra dandeettii huji'ii qabu; sanyiin isaa wolumatti namoota jaatamii lama.

⁹ Meshelaam ilmaanii fi fira dandeettii qabanu namoota kudhanii saddeeti qabaayyu.

¹⁰ Sanyii Meraarii keessaa, Hosaah ilmaan afur uumate; isaan keessaa Shiimri soorressa; inni angafa te'uu dhabulle, abbaan isaa akka inni soorressa te'u godhe.

¹¹ Lammeessoon Hilqiiyaa, sadeessoon Xabaliyaa, arfeessoon Zakaariyaas; ilmaan Hosaahiitii fi firri isaa wolumatti namoota kudhanii sad.

¹² Eddoti karraa tun akkuma Lewwoota dhibii Galma Mootii Waan Maraa keessa hujanu, sooreyyii ifii jalatti ramadamanee, hujii Galma Mootii Waan Maraa hujiisaaf badoo qabaniyyu.

¹³ Jaarsa, ijoollee adoo hin jedhin akka maatii abbootii ifiititti, karra tam akka eeganuuf hixaa buufatane.

¹⁴ Hixaan karra karaa aduun baatuu Shelemiif bu'e. Achiin duuba hixaan karra gara kaabaa ilma isaa ka namatti gorsiisa beeku Zakaariyaasiif,

¹⁵ hixaan karra kibbaa Obed-Edoomiif, hixaan mana meyyaa ilmaan isaatiif,

¹⁶ hixaan karra gara aduun seentuutii fi karra Sheleketii ta karaa ol bayanu irraa, Shuphiimii fi Hosaahiif bu'e. Eddotille badoo badoo'oon eegane.

¹⁷ Guyyaa guyya'aan karra karaa aduun baatuu Lewwooti jaa, karra gara kaabaa Lewwooti afur, karra gara kibbaa Lewwooti afur, karra mana meyyaa tokko tokko Lewwooti lama lama,

¹⁸ karaa gara badhinna dalleya keessaa gara aduun seentuu irratti Lewwooti afur, badhinna dalleya keessaa ka karaa aduun seentuu sanille Lewwoota lamatti eegaayyu.

¹⁹ Sanyii Qoraahiitii fi Meraarii keessaa eeddota karraa worri te'ane isaan kana.

Hujii Galma Waaqaa Ta Dhibii

²⁰ Lewwoota dhibii keessaa Akiyaan itti gaafatamaa qabeenna Galma Waaqaatii fi mana meyya kennaa Waaqaaf adda baafamee ti.

²¹ Fira Gershoonii, ilmaan La'adaanii keessaa ka maatii La'adaanii irratti sooressa te'e Yehii'el,

²² Ilmaan Yehii'elii: Zetaamii fi obboleessi isaa Yo'el itti gaafatantoota qabeenna Galma Waaqaa ti.

²³ Sanyii Amraamii, sanyii Yizhaarii, sanyii Kebrooniitii fi sanyii Uzii'elii keessaa namooti hujii tanatti hirmaataneeraniyyu.

²⁴ Sanyii Gershoomii ilma Muuse'ee keessaa Shubaa'el, itti gaafatamaa qabeenna Galma Waaqaa te'e.

²⁵ Inni karaa obboleessa Gershoomii Elii'ezeriitiin Shelomootiif fira aantii isaa ti; Elii'ezer Rehaabiyaa uumate; Rehaabiyaan Yeshaa'iyaa uumate; Yishaa'iyaan Yoraam uumate; Yoraam Ziikri uumate; Ziikri Shelomoot uumate.

²⁶ Shelomootii fi firri isaa meyya Daawitiin mootichi, sooreyyiin maatii'ii, ajajjooti kumaa, ajajjooti dhibbaatii fi ajajjooti hunna woraanaa dhibiin kennansa Waaqaaf adda baye mara irratti itti gaafatantoota.

²⁷ Isaan meyya yennaa duulaa saamame irraa, Galma Waaqaa haaressiisaaf adda baasane.

²⁸ Meyi tajaajila Galma Waaqaatiif adda baafamee fi kennansi Saamu'eliin mudhii dhagguu fi ilmi Qiishii Saa'ol, ilmi Neerii Abneerii fi Yo'aab ka Zeruyaana deette fa'a fidane, Shelomootii fi fira isaatiitti itti gaafatantoota itti te'ane.

Hujii Lewwoota Dhibi'ii

²⁹ Sanyii Yizhaarii keessaa Qayinaanii fi ilmaan isaa, hujii Galma Waaqaatiin alaatiitti kolbaa Israa'elii irratti gondaaltotaa fi abbootii mura'aa te'ane.

³⁰ Sanyii Kebroonii keessaa Hashabiiyaa fi firri isaa namooti kum tokkoo fi dhibbi torbaa, hujii Waaqaatii fi hujii mootichaa ta laga Yordaanisii irraa karaa aduun seentu jirtu irratti itti gaafatamumma'aan ramadamane.

³¹ Akka hidda dhaloota maatii isaaniititti sanyii Kebroonii keessaa, Yeriyaan sooressa te'e. Daawiti mootii te'ee woggaa afurtameesso'ootitti yenna galmeen qorqoramee sanyii Kebroonii keessaa loltooti goototi biyya Giil'aadii qachaa Yaazer keessatti dhaggamane.

³² Yeriiyaan firoota dandeettii qabanuu fi sooreyyii maatii'ii ka te'ane namoota kuma lamaa fi dhibba torba qabaayyu; mootichi Daawiti akka isaan kutaa biyya Ruubenii, kutaa biyya Gaadiitii fi gamisa gosa Minaase'ee keessatti hujii Waaqaatii fi hujii mootichaa hujanu itti gaafatantoota godhe.

27

Loltooti Kutaa Kuta'atti Qoodante

¹ Israa'elooti sooressitoota maatii'ii, ajajjooti kumaa, ajajjooti dhibbaa, gondaaltoti isaan gurmeessanulle kutaa woraanaa keessatti mootummaa kanaaf tajaajilane; kutaan woraanaa tokko tokkoon isaatuu namoota kuma diddamii afur ifi keessaa qabu kun woggaa keessatti ji'a tokko tokko hujatiisaaf, kutaan haarenni yenna dhufu ka hujate ammoo hin galaayyu; tarreen isaanii asii gad jiran:

² Ilmi Zabdi'elii Yaashobi'aam, ajajaa kutaa loltootaa ka ji'a qaraa yoo te'u, namooti kutaa isaa keessaa kuma diddamii afur.

³ Inni sanyii Faaresii ti; ajajjoota kutaa loltoota ji'a qaraa maraafuu sooressi isa.

⁴ Dodaayi sanyiin Ahohii, ji'a lammeesso'ootitti, ajajaa kutaa loltootaa ka ji'a lammeesso'oo yoo te'u, Miiklotille itti aanaa ajajaa kutaa loltoota sanii ti; namooti kutaa isaa keessaa kuma diddamii afur.

⁵ Hayyichi sooressi ilmi Yehoyaada'aa Benaayaan, ji'a arfeesso'ootitti ajajaa kutaa loltootaa ka ji'a sadeesso'oo yoo te'u, namooti kutaa isaa keessaa kuma diddamii afur.

⁶ Benaayaan gootota soddoma keessaa goota jaba'a. Ilmi isaa Amiizabaad, ajajaa kutaa loltoota abbaa ifii ti.

⁷ Arfeessoon, obboleessi Yo'aabii Asaahel, ji'a arfeesso'ootitti, ajajaa kutaa loltootaa ka ji'a arfeesso'oo yoo te'u, ilmi isaa Zebaadiyaan addee isaa bu'e; namooti kutaa isaa keessaa kuma diddamii afur.

⁸ Nami Yizraahii Shaamhut, ji'a shaneesso'ootitti, ajajaa kutaa loltootaa ka ji'a shaneesso'oo yoo te'u, namooti kutaa isaa keessaa kuma diddamii afur.

⁹ Jayeessoon, ilmi Iqeshii nami Teqo'aa Liraan, ji'a jayeesso'ootitti, ajajaa kutaa loltootaa ka jayeesso'oo yoo te'u, namooti kutaa isaa keessaa kuma diddamii afur.

¹⁰ Torbeessoon, sanyiin Efreemii nami Phelonii Helez, ji'a torbeesso'ootitti, ajajaa kutaa loltootaa ka ji'a torbeesso'oo yoo te'u, namooti kutaa isaa keessaa kuma diddamii afur.

¹¹ Saddeetessoon, maatiin Zera'aa ka sanyii Hushaa Siibekaayi, ji'a saddeetesso'ootitti, ajajaa kutaa loltootaa ka ji'a saddeetesso'oo yoo te'u, namooti kutaa isaa keessaa kuma diddamii afur.

¹² Sagaleessoon, nami Anaatotii sanyiin Beniyaaminii Abii'ezer, ji'a sagaleesso'ootitti, ajajaa kutaa loltootaa ka ji'a sagaleesso'oo yoo te'u, namooti kutaa isaa keessaa kuma diddamii afur.

¹³ Kudhaneessoon, maatiin Zera'aa nami Netofa'aa Maharaay, ji'a kudhaneesso'ootitti, ajajaa kutaa loltootaa ka ji'a kudhaneesso'oo yoo te'u, namooti kutaa isaa keessaa kuma diddamii afur.

¹⁴ Kudhanii tokkeessoon, nami Phiiraatonii Benaayaan sanyiin Efreemii, ji'a kudhanii tokkeesso'ootitti, ajajaa kutaa loltootaa ka ji'a kudhanii tokkeesso'oo yoo te'u, namooti kutaa isaa keessaa kuma diddamii afur.

¹⁵ Kudhanii lammeessoon, nami Netofa'aa sanyiin Otnii'elii Heldaayi, ji'a kudhanii lammeesso'ootitti, ajajaa loltootaa ka ji'a kudhanii lammeesso'oo yoo te'u, namooti kutaa isaa keessa kuma diddamii afur.

Sooressitoota Gosa Israa'elii

¹⁶ Sooressitooti gosoota Israa'elii ka asii gad jiranu: gosa Ruubenii ka sooressu ilma Ziikrii Elii'ezer; gosa Shimi'oon ka sooressu, ilma Ma'akaa Shefaaxiya'a.

¹⁷ Gosa Lewwi'ii ka sooressu, ilma Qemu'elii Hashabiiya'a; maatii Aaronii ka sooressu, Zaadoq.

¹⁸ Gosa Yihuda'aa ka sooressu, obboleessa Daawitii Eliihu'u; gosa Yisaakoorii ka sooressu, ilma Mikaa'elii Omiri.

¹⁹ Gosa Zebuloonii ka sooressu, ilma Obaadiya'aa Yishmaa'iya'a; gosa Niftaalemii ka sooressu, ilma Azrii'elii Yeremoot.

²⁰ Gosa Efreemii ka sooressu, ilma Azaziya'aa Hoshe'a'a; gamisa gosa Minaase'ee ka sooressu, ilma Phedaaya'aa Yo'el.

²¹ Gamisa gosa Minaase'ee ka Giil'aadi keessaa ka sooressu, ilma Zaakaariyaasii Iddo; gosa Beniyaaminii ka sooressu, ilma Abneerii Ya'aasi'el.

²² Gosa Daanii ka sooressu, ilma Yerohaamii Azaareli; isaan kun worra sooressitoota gosoota Israa'elii te'e.

²³ Mootiin Waan Maraa, «Kolbaa Israa'elii akka urjoota ol-gubba'aa hin baceessa» jedhee waadaa waan galeef, Daawiti namoota woggaa diddamaa gadii hin laakkonne.

²⁴ Yo'aab ka Zeruyaana deette namoota laakkowiisa jalqabee, ammoo laakkowee hin muummessine; laakkowamiisa kolba'aa kanaaf aariin Waaqaa kolbaa Israa'elii irratti waan bobeetteef, laakkossi kolba'aa kitaaba dabarsii mooticha Daawitii keessatti hin barreeffanne.

Itti Gaafatantoota Qabeenna Mootichaa

²⁵ Ilmi Adii'elii Azmaaweti, itti gaafatamaa qabeenna mana mootumma'aa ti; ilmi Uziya'aa Yonaataan, itti gaafatamaa qabeenna biyya keessaa, qabeenna qachoota keessaa, qabeenna ollaa keessaatii fi xelleephoo keessaa ti.

²⁶ Ilmi Keluubii Ezri itti gaafatamaa hujii fichaa qonnaa ti.

²⁷ Nami qachaa Raamaatii Shime'i itti gaafatamaa fichaa muka woyni'ii ti; Zabdiin nami Shiifmii itti gaafatamaa cunfaa midhaan woyni'ii ka fichaa muka woyni'ii keessatti kuufamuu ti.

²⁸ Ba'aal-Hanaan nami Gederii itti gaafatamaa mukoota ejersaatii fi mukoota harru'uu kooba karaa seensa adu'uutiin jalaa ti; Yo'aas itti gaafatamaa kuusaa zayitii ejersaa ti.

²⁹ Nami Shaaronii Shiitraay, itti gaafatamaa loon Shaaron keessa tikatanuu ti; ilmi Adlaayimii Shaafaax itti gaafatamaa loon dhooqa keessa tikatanuu ti.

³⁰ Obiiliin Ishimaa'elichi itti gaafatamaa gaalaa ti; nami Meronootii Yedaa'iyaan, itti gaafatamaa harreele'ee ti.

³¹ Nami Hagirii Yaaziiz, itti gaafatamaa hoolotaa ti; isaan martinuu itti gaafatantoota qabeenna Daawitii mootichaa ti.

³² Abbaa diqqaan Daawitii mootichaa Yonaataan, ka namatti gorsu, nama hubata'aa fi beeka'a. Yehii'el ilmi Hakmonii ilmaan mootichaa guddisaa ture.

³³ Ahiitofel gorsaa mootichaa ti; Hushaayi nami kolbaa Arkii lansa mootichaa ti.

³⁴ Ahiitofelitti aanee ilmi Benaayaatii Yehoyaadaan, isatti aanee Abiyaataar addee fudhatane. Yo'aab ajajaa loltoota mootichaa te'e.

28

Daawiti Galma Waaqaa Ijaariisaaf Qajeelfama Baase

¹ Mootichi Daawiti qondaaltota kolbaa Israa'elii mara sooressitoota gosaa, ajajjoota kutaa loltootaa, ajajjoota kumaa, ajajjoota dhibbaa, itti gaafatan-toota qabeenna maraa, itti gaafatantoota loon mootichaatii fi ilmaan isaa, qondaaltota mana mootumma'aatii fi loltoota gootota Yerusaalemitti wolitti waame.

² Achiin duuba mootichi Daawiti ka'ee dhaabatee, «Obboleeyyan tiyya, kolbaa tiyya, na dhage'a'a. Ani mana Saanduqi Gondooroo Mootii Waan Maraa keessa tee'u, miilli Waaqa keennaa ka keessa ijatu ijaariisaaf yaadadhee, ijaariisaafille qophii godhadheera.

³ Waaqi ammoo anaan, «Ati nama woraanaa, ka dhiiga dhangalaaseeru waan teeteef, ati Maqaa kiyyaaf mana hin ijaartu» jedhe.

⁴ Te'uu malee Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, akka ani kolbaa Israa'elii haga bara baraa bulchuuf, maatii abbaa kiyyaa duudii keessaa na fileera. Gosa Yihuda'aa sooressitoota akka te'anuuf, sanyii Yihuda'aa keessalle'ee maatii abbaa kiyyaa filatee, ilmaan abbaa kiyyaa keessalle'ee akka ani kolbaa Israa'elii mara irratti mootii te'uuf natti gammadeera.

⁵ Mootiin Waan Maraa ilmaan hedduu naa kenneera; ilmaan tiyya mara keessalle'ee barcuma mootumma'aa ka mootummaa Mootii Waan Maraa irra tee'ee, kolbaa Israa'elii mara akka bulchuuf ilma kiyya Solomoon filateera.

⁶ Mootiin Waan Maraa anaan, «Ilmi keeti Solomoon ilma kiyya akka naaf te'u, ani abbaa akka isaaf te'u waan filadheef, inni mana kiyyaa fi badhinna mura'aa kiyya naaf hin ijaara.

⁷ Inni akkuma amma godhu kana, ajajaa fi seera kiyya jabeessee yoo eege, ani mootummaa isaa haga bara baraa hin jabeessa» jedhe.

⁸ «Maarre amma ani lafa dansaa tana akka dhaaltanuu fi ijoollee teessaniifille dhaala bara baraa akka gootanuuf, ajaja Mootii Waan Maraa Waaqa keennaa akka dansaa akka eegattanuuf, kolbaa Israa'elii mara, wolde'a Waaqaa duratti, Waaqa keenna ka nu dhage'uu fi ka nu dhaggu duratti isin ajaja.

⁹ «Atille Solomoon, ilma kiyya, Mootiin Waan Maraa gadhaa nama maraa qorqoree waan ilaaluuf, yaada namaatii fi karoora namaa waan beekuuf, Waaqa abbaa keetii beekiitii, gadhaa tokkochaaf fi qalbii fedhii qadduun isa tajaajili. Ati yoo isa barbaadde, isa hin dhaggita; ati yoo isa lakkitte innille haga bara baraa si hin lakkisa.

¹⁰ Kunoo, addee woyyittii Galma Waaqaa akka ijaartuuf, Mootiin Waan Maraa si filateera; atille jabaadhuutii hujadhu» jedhe.

¹¹ Achiin duuba Daawiti fakkii karoora ijaarsaa ta soroo Galma Waaqaa, ta kutaa badhoo mana keessaa, ta kutaa meya gatii guddo'oo keessa keyanuu, kolloota mana mana irraa, kolloota gara keessaa ta addee araarri cubbuu kolba'aa itti kennamuu ilma ifii Solomoonitti kenne.

¹² Inni fakkii karoora badhinna dalleya keessaa ka Galma Mootii Waan Maraa, kolloota Galma sanitti naanneffamanee ijaaranuu mara, kolloota qabeenna Galma Waaqaatii fi waan Waaqaaf adda baye keessa keyanu akka qalbii isaa keessaa qabutti ilma ifiititti kenne.

¹³ Inni ammalle ramaddii hayyootaatii fi Lewwootaa maan akka hujanu, hujiin tajaajila Galma Mootii Waan Maraa keessaa marti attam akka hujantu, meen achi keessa ittiin hujanu kam akka te'e isatti hime.

¹⁴ Meya worqii irraa hujamee, hujii adda addaa ittiin hujjiisaaf barbaachisuuf, haga worqii isaa, meya meetii irraa hujamee, hujii adda addaa ittiin hujatiisaaf barbaachisuufille haga meetii isaa,

¹⁵ akkuma tajaajila waan issaan irra keyamuutitti, waan issaa irra keyanu ka worqii irraa hujamee fi issaa isaa ka worqii irraa hujamee haga worqii isaa, waan issaan irra keyamu ka meetii irraa hujamee fi issaa isaa ka meetii irraa hujamee haga meetii isaa,

¹⁶ xarapheessaa daabboo Waaqaaf woyyoontu irra keyanu tokko tokkoo isaatiif, haga worqii isaa, xarapheessaa meetii irraa hujamuuf, haga meetii isaa,

¹⁷ filaa fooniitiif, qori'iif, muduunu'uuf, worqii qulluu; qorii boollitti'iifille tokko tokkoofuu haga worqii isi'ii, qorii meeti'iitiifille tokko tokkoofuu haga meetii isi'ii,

¹⁸ addee ciinca'aa ta hixaanni irratti aarfamuuf, worqii baqisiifante, akka-suma fakkii karoora ta ifii garreettaa harkifamu ka dada ol-gubba'aa ta koola qadduu ka worqii irraa hujamee, koollii isaanii Saanduqa Gondoro'oo ka Mootii Waan Maraa irra gonbooberu san itti kenne.

¹⁹ Daawiti, «Karoorri kun martinuu Mootiin Waan Maraa na qajeelchee barreeffame; inni na qarqaaree waan karoora kana keessa jiru mara hubadhe» jedhe.

²⁰ Achiin duuba Daawiti ilma ifii Solomooniin, «Jabaadhu, jajjabaadhuutii huji. Waaqi kiyya, Mootiin Waan Maraa Waaqi si woliin waan jiruuf, hin sodaatin, hin nayinille'e. Haga hujii Galma Waaqaa tun hobbaatutti inni si hin lakkisu yookiin si hin gatu.

²¹ Kunoo, hayyootii fi Lewwooti hujii Galma Waaqaa maraaf ramadamaanee qophowaneeran; worri hujii harkaatiin ogeeyyii te'ane, hujjiisaafille fedhii ka qabanu marti si hin qarqaaran. Qondaaltotii fi kolbaan marti waan ati ajajje mara hin fudhatan» jedhe.

29

Kennansa Ijaarsa Galma Waaqaatiif Kenname

¹ Achiin duuba mootichi Daawiti gumii san maraan, «Ilmi kiyya Solomoon ka Waaqi filate kun mucaa diqqa'a; muuxannoolle hin qabu. Manni guddaan ijaaramu kun Mootii Waan Maraa Waaqaaf ijaarama malee, namaafii moti; tanaaf hujii isaa tun hujii guddo'o.

² Kunoo, ani haga hunna tiyyaatitti, Galma Waaqa kiyyaa ijaariisaaf meya worqii irraa hujamuuf worqii, meya meetii irraa hujamuuf meetii, meya sageettuu irraa hujamuuf sageettuu, meya sibiila irraa hujamuuf sibiila, meya muka irraa hujamuuf muka, akkasuma dhakaa Sardoniikiille, dhakaa gatii guddo'oo ka tarree galchane ittiin mana miidhassanu, dhakaa gurraacha calalaqaa, dhakaa gatii guddo'oo ka bifa adda addaatiif fi dhakaa adii calalaqaa baceessee qopheesseera. Isaan kana mara baceessee wolitti qabeera.

³ Kana maleelle, ani jaalaltii hujii Galma Waaqaa waan qabuuf, waan qara Galma Waaqaa kanaaf qopheesse irratti dabalee, qabeenna kiyya keessaa worqi'ii fi meetii hin kenna:

⁴ Dalleya Galma Waaqaa midhassiisaaf worqii Ofirii gara kiiloogiraama kuma dhibbaatii fi meetii gara kiiloogiraama kuma dhibba lamaa fi kuma afurtamaa,

⁵ meya ogeessoti hujanu maraaf, ka worqi'iin hujamuuf worqii, ka meetii irraa hujamuuf meetii hin kenna. Maarre adha fedha ifitiin ka Mootii Waan Maraatiif ifi woyyoonsu eennu ree?» jedhe.

⁶ Achiin duuba sooreyyiin maati'ii, qondaaltoti gosa Israa'elii, ajajjooti kumaa, ajajjooti dhibbaatii fi itti gaafatantooti hujii mootichaa fedha ifitiin kennansa kennane.

⁷ Ijaarsa Galma Waaqaatiif worqii gara kiiloogiraama kuma dhibba tokkoo fi kuma torbaatama caaltu, meetii gara kiiloogiraama kuma dhibba sadii fi kuma afurtama caaltu, sageettuu gara kiiloogiraama kuma dhibba jaa fi kuma diddamaa kenniisaaf murteessane. Sibiila gara kiiloogiraama miliyoonaa sadii fi kuma dhibba afurii fi kuma shantama.

⁸ Worri dhakaa gatii guddo'oo qabanu, ka qabeenna Galma Waaqaa eegu Yehii'elii Geshoonichatti kennane.

Daawiti Waaqa Leellise

⁹ Soressitooti isaanii fedha ifitiin, gadhaa tokkochaan Mootii Waan Maraatiif waan kenniteef, kolbaan gammadde. Mootichi Daawitille guddoo gammade.

¹⁰ Mootichi Daawiti achitti kolbaa mara duratti Mootii Waan Maraa leellisee, «Waaqa abbaa keenna Israa'elii haga bara baraa leellifami.

¹¹ Ee Mootii Waan Maraa, ati gudda'a; hunnaamessalle'e. Ulfinni, baalli'ii fi arnyi keeti. Wonni ol-gubba'aa fi lafa irra jirtu marti teeti; ati mooticha waan maraan olii ti.

¹² Durumma'aa fi ulfinni marti si biraa dhufan. Ati jabeennaa fi hunna teetiin waan mara bulchita. Ati nama mara gudda'aa fi jabaa tolchuu hin dandeetta.

¹³ Amma, Waaqa keenna, si galateeffanna; maqaa keeti ulfaataa hin leellifanna.

¹⁴ «Nuuti fedha keennaan akkas akka kenninu ka nu dandeessitte ani eennu? Kolbaan tiyyalle eennu? Wonni marti kennansa si biraa nuuf dhufe; waanuma duruu keeti te'e qofa deebinne siif kennine.

¹⁵ Nuuti si duratti akkuma abbootii teenna ta durii akka alaga'aatii fi akka keessumma'aa ti. Barri keenna lafa irratti akka gaaddisaa ti; du'a jalaa miliquu hin dandeennu.

¹⁶ Ee Mootii Waan Maraa, Waaqa keenna, ulfinna Maqaa keeti woyyichaatiif Galma ijaariisaaf, meyaa fi horiin bacaan nuuti sii kennine marti si biraa nuu dhufane; wonni kun martinuu teeti.

¹⁷ Waaqa kiyya, ati gadhaa namaa akka qorqortuu fi yaada qajeela'atti akka ati gammaddu ani hin beeka. Tanaaf, ani waan kana maraayyuu fedha kiyyaan, yaada qajeela'aan kenneera; kolbaan teeti ta asitti dachaateertulle fedha ifitiin kennansa sii kenniisaaf attam akka gammadelle ani dhaggeera.

¹⁸ Ee Mootii Waan Maraa Waaqa abbootii teenna ta durii ka Abrahaamii, ka Yisihaqii, ka Israa'elii yaada kolbaan teeti sii kennite kana haga bara baraa gadhaa isaanii keessatti isaaniif eegi; akka si'iif addatamanulle godhi.

¹⁹ Ilmi kiyya Solomoon ajaja, seeraa fi seerata keeti eegatee, waan ani qophii godheen Galma ijaariisa akka dande'u fedhii guutuu isaaf kenni» jedhe.

²⁰ Achiin duuba Daawiti kolbaa san duudi'iin, «Mootii Waan Maraa Waaqa keessan leellisa'a!» jedhe. Kolbaan sun duudiin Mootii Waan Maraa Waaqa abbootii ifii leellifatte; isaan gad jedhane, Mootii Waan Maraatii fi mootichaafille ulfinna kennane.

Solomoon Mootii Te'e

²¹ Boruuyyaa isaan ciincaa Mootii Waan Maraatiif dhikeessane; kennansa gubamu Mootii Waan Maraatiif korommii kuma tokko, korbeeyyii hoole'ee kuma tokko, buruusoo korbeeyyii hoole'ee kuma tokko kennansa unto'oo woliin, ciincaan bacaan marroo kolbaa Israa'elii maraatiif dhikaate.

²² Gaafa san isaan gammada gudda'aan Mootii Waan Maraa duratti nyaatanee unane.

Achiin duuba isaan ilma Daawitii Solomoon akka inni mootii te'u yenna lammeesso'oo Mootii Waan Maraa duratti muudane; Zaadoqille akka hayyuu te'u muudane.

²³ Achiin duuba Solomoon addee abbaa ifii Daawitiititti, barcumaa Mootii Waan Maraa irra tee'e. Wonni marti isaaf teetee, kolbaan Israa'elii martille isaaf ajajante.

²⁴ Soressitootii fi dhiirti goototi marti, ilmaan Daawitii mootichaa martille, akka isaaf ajajamanu Solomoonii mootichaaf mirkaneessane.

²⁵ Mootiin Waan Maraa kolbaa Israa'elii mara biratti Solomoon, nama guddoo beekkamaa akka te'u godhee, arnya mootummaa'aa ka mootota isaan qara Israa'el irratti mootii te'ane irra ijjumaa hin jirre, isaaf kenne.

Du'a Daawitii

²⁶ Ilmi Iseyii Daawiti kolbaa Israa'elii mara irratti mootii te'e.

²⁷ Inni Kebroon keessa tee'ee woggaa torba, Yerusaalem keessa tee'ee woggaa soddonii sad, wolumatti inni woggaa afurtama Israa'el bulche.

²⁸ Achiin duuba inni durummaa'aa fi ulfinna dhaggatee, bara hedduu le'ee, dulloomee du'e. Ilmi isaa Solomoon addee isaatitti mootii te'e.

²⁹ Wonni mootichi Daawiti bara mootummaa ifii keessa huje, jalqabaa haga dhumaatitti, kitaaba dabarsi'ii ka Saamu'elii mudhii dhagguu, kitaaba dabarsi'ii ka Naataanii raagichaatii fi kitaaba dabarsi'ii ka Gaadii mudhii dhagguu keessatti dhaggama.

³⁰ Barreeffama san keessatti marroon mootummaa isaa, marroon gootummaa isaa, wonni isa irra dhaqqabe, wonni kolbaa Israa'elii irra dhaqqabe, wonni mootummoota biyya lafaa ta dhibii irralle dhaqqabe martinuu barreeffameera.

Kitaaba Dabarsi'ii Ka Lammeesso'oo Seensa

Kitaab dabarsi'ii ka Lammeesso'oo addee kitaab dabarsi'ii ka garaa itti dhaabbachiise irraa jalqaba. Bulchiinsa Solomoonii mootichaatiin jalqabee, haga du'a isaa dhaqa. Sooreessummaa Yeroobi'aamiitiin gosi gara kaabaa mootii Yihuda'aa Rehobiyaam, ka addee abbaa ifii Solomooniititti mootii te'e irratti finqila akka kaasane odeesseen duuba, dabarsii mootummaa kibbaa ta Yihuda'aa, ta haga diigama Yersaaleemii jirtu, dhaloota Kiristoosiitiin dura woggaa dhibba shanii fi saddeettamii jaa tartiibaan galmeessa.

Haadhoo Dubbi'ii

Bulchiisa Solomoonii 1:1–9:31

Woggoota gara jalqabaa 1:1–17

Galmi Waaqaa ijaarame 2:1–7:10

Woggoota gara duubaa 7:11–9:31

Finqiliisa gosa kaabaa 10:1–19

Mootota Yihuda'aa 11:1–36:12

Jigiisa Yersaaleemii 36:13–23

Solomoon Qarumma'aaf Daadimate

(1 Mot. 3:1–15)

¹ Ilmi Daawitii Solomoon mootummaa ifii jabeeffate; Mootiin Waan Maraa Waaqi isa eebbisee, mooticha jabaa isa godhe.

² Achiin duuba Solomoon kolbaa Israa'elii mara, ajajjoota kumaa, ajajjoota dhibbaa, abbootii mura'aatii fi sooreyyii mootummaa mara, sooreyyii maatii'ii mara ajajee,

³ Dunkaaniin Woldeenna'aa ta Waaqaa, ta tajaajilaan Mootii Waan Maraa Muuseen goomolee keessatti huje waan achi jirtuuf, Solomoonii fi kolbaan marti gara addee waaqonfanna'aa ta Giibe'on keessaa dhaqane.

⁴ Te'uu malee, Daawiti Saanduqa Gondoro'oo ka Waaqaa, ta Kiriiyat-Ya'ariim jiru fidee, dunkaanii Yersaaleem keessatti dhaabe keessa keyeer-aayyu.

⁵ Addeen ciinca'aa ta ilmi Urii Baxaali'el, akaakoon Huurii, sageettuu irraa huje achi Dunkaanii Woyyittii Mootii Waan Maraa dura jirtiyyuu; maarre Solomoonii fi kolbaan sun achitti fedhii Mootii Waan Maraa barbaadane.

⁶ Solomoon gara addee ciinca'aa ta sageettuu irraa hujantee, Dunkaanii Woldeenna'aa bira fuula Mootii Waan Maraa dura jirtuu ol bayee, achi irratti kennansa gubamu kuma tokko dhikeesse.

⁷ Halkan san Waaqi Solomoonitti mudhatee, «Waan ani sii kennu mara na gaafadhu» jedheen.

⁸ Solomoon deebisee Waaqaan, «Ati abbaa kiyya Daawititti jaalala keeti guddaa ka bara baraa mudhittee, akka ani addee isaatitti mootii te'u na gooteerta.

⁹ Ee, Mootii Waan Maraa Waaqa, ati kolbaa bindillaa biyya lafaa irratti mootii waan na gooteef, waadaan ati abbaa kiyya Daawitiif galte muum-mowuu ti.

¹⁰ Qarumma'aa fi beekkumsa ani ittiin kolbaa tana bulchu naaf kenni; yoo tun hin te'in kolbaa teeti hunnaamettii tana eentu bulchuu dande'a ree?» jedhe.

¹¹ Waaqi Solomooniin, «Ati durummaa, qabeenna, ulfinna yookiin di-inoti keeti akka dhumatanu, ifiifuu bara dheeraa akka leetuuyyuu hin

gaafanne; ammoo kolbaa tiyya ta ani irratti mootii si godhe akka bulchituuf, qarumma'aa fi beekkumsa akka sii kennuuf waan na gaafatteef,

¹² ani qarumma'aa fi beekkumsa sii hin kenna; kana maleelle qarummaa, qabeennaa fi ulfinna moototi si'iin duraa hin qanne, ka moototi si'iin duuba mootii te'u'uu jiranulle hin qabaanne sii kenna» jedhe.

¹³ Achiin duuba Solomoon addee waaqonfanna'aa ta Giibe'on keessaa ta Dunkaanii Woldeenna'aa duraatii ka'ee, gara Yersaaleemii deebi'e. Inni achi tee'ee kolbaa Israa'elii bulche.

Solomoon Nama Guddaa Beekkamaa Te'e

¹⁴ Solomooniin mootichi garreettota fardo'oon harkifamanu kuma tokkoo fi dhibba afurii fi abbootii fardo'oo kuma kudhanii lama wolitti qabate; inni garreettota fardo'oon harkifamanu san keessaa garii qachoota garreettoti keessa keyamanu keessa keyee, garii ifi bira qachaa Yersaaleemii keessa keye.

¹⁵ Mootichi meeti'ii fi worqii Yersaaleem keessatti akka dhaka'aa akka bacattu, birbirsille akka muka harru'uu ka biyya kooba jalaa akka bacatu godhe.

¹⁶ Solomoon fardoo ifii biyya Gibxi'iitii fi biyya Qiliqiya'aa keessaa fichisiise; daldaltooti mootichaa biyya Qiliqiya'aa keessaa bitanee fidane.

¹⁷ Garreettaa fardaan harkifamu tokko beese meeti'ii dhibba jaan, farda tokko beese meeti'ii dhibba tokkoo fi shantamaan biyya Gibxi'ii keessaa bitan; dabarsaneelle mootii Heetotaatii fi mootii Sooriya'aatitti gurgurane.

2

Qophii Ijaarsa Galma Waaqaa

¹ Solomoon maqaa Mootii Waan Maraatiif Galmi akka ijaaramu, manni mootumma'aa ka isaalle akka ijaaramu murteesse.

² Inni namoota ba'aa ba'atanu kuma torbaatama, namoota kooba irraa dhakaa bocanu kuma saddeettama, namooti kum sadii fi dhibbi jaa ammoo hujii akka toowatanu godhe.

³ Solomoon gara Hiiraamii mootii biyya Xiirroosii ergaa ergee, «Abbaan kiyya Daawiti mana mootumma'aa akka ijaarratuuf muka hindheensaa akkuma ergiteef, analle'eef ergi.

⁴ Ani Galma Mootii Waan Maraa ka Waaqa kiyyaa ka hixaanni foolee dansa'aa keessatti aarfamu, ka daabboon Waaqaaf woyyoontu yennaa mara keessatti isa dura keyantu, galgalaa fi ganama kennansi gubamu itti dhikeffamu, guyyaa Sanbataatii fi baatii ji'aatitti, yennaa jila Mootii Waan Maraa ta beekkanteetitti waan kana keessatti dhikeessanu, ijaariisaaf murteeffadheera. Kun kolbaa Israa'eliitiif seerata haga bara baraa ti.

⁵ Waaqi keenaa waaqota dhibii mara waan caaluuf, Galmi ani isaaf ijaaru gudda'a.

⁶ Te'uu malee ol-gubba'aa fi ol-gubbaan olii eega isa qabatuu hin dandeenneeyyuu, eentu Galma isaaf ijaaru dande'a ree? Addee kennansa isa duratti dhikeessanuuf qofa isaaf ijaara malee, ka Galma isaaf ijaaru dande'u ani eennu ree?

⁷ Maarre amma nama ogeessa worqii, meetii, sageettu'uu fi hujii sibiila dhibi'iille, woyaa dhiillee, woyaa bifa cuquliisaa dhowuu beeku naaf ergi. Akkasuma nama Yihuda'aa fi Yersaaleem keessa tee'ee, namoota ogeeyyii abbaan kiyya Daawiti qopheesse waliin meya adda addaa irratti woy qiriixee bifa itti baasee hujuu dande'u naaf ergi.

⁸ Namooti keeti gaara Libaanonii irraa muka muriisa waan qabanuuf, Libaanon irraa muka hindheensaa, muka birbirsaatii fi muka sandali'ii naaf ergi; namooti kiyyalles namoota keeti woliin hin hujan.

⁹ Galmi Waaqaa ka ani ijaaraaru kun gudda'aa fi miidhagaa te'uu waan qabuuf, falaxaan hedduun naaf qophowuu ti.

¹⁰ Ani tajaajiltoota teeti ta muka murtuuf, bullaa qamadi'ii kuntaala dhibba afurii fi afurtama, garbuu kuntaala dhibba afurii fi afurtama, akka-suma daadhii woyni'iille litirii kuma dhibba afur, zayitii ejersaa litirii kuma dhibba afur hin erga» jedhe.

¹¹ Achiin duuba mootichi Xiirrosii Hiiraam xalaya'aan Solomooniif deebisee, «Mootiin Waan Maraa kolbaa ifii waan jaalatuuf, akka ati mootii isaanii teetu si godhe» jedhe.

¹² Hiiraam itti dabaleelle, «Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii ka olgubba'aa fi lafa dade leellifamuu ti! Inni ilma qaroo malaamessaa fi hubantii guddoo qabu ka Galma Mootii Waan Maraatiif fi mana mootummaa ifiille ijaaratu mooticha Daawitiif kenneera.

¹³ Ani amma ka hujii harkaatiin dandeettii qabu Huraam si'iif hin erga.

¹⁴ Haati isaa dubartii sanyii Daanii ti; abbaan isaa nama biyya Xiirrosii ti. Inni hujii worqi'iitii fi meeti'ii, hujii sageettu'uutii fi sibiilaa, hujii dhaka'aatii fi mukaa, akkasuma woyaa bifa cuquliisaa, woyaa dhiille'ee fi diintuu quncee talba'aa irraa hujiiisa beeka. Inni waan akka hujuuf gaafatame mara dhaka'aa fi muka irratti qiriixuu hin dande'a. Inni namoota keeti ka hujii harkaa hujuu beekanuu fi namoota gootaa kiyya, abbaa keeti Daawitii woliin hujuu hin dande'a.

¹⁵ «Amma gootaa kiyya qamadi'ii fi garbuu, zayitii ejersaatii fi daadhii woyni'ii ta waadaa galte san ergi.

¹⁶ Nuutille muka haga ati barbaaddu gaara Libaanonii irraa murree wolitti hiinee, abbaayaa irra haga Yophe'ee siif hin ergina; atille achii gara Yersaaleemii fudhatuu hin dandeetta» jedhe.

¹⁷ Achiin duuba Solomoon akkuma abbaan isaa Daawiti dur laakkossiise, namoota alagaa biyya isaa keessa jiranu mara laakkossiise; namooti sunille kuma dhibba tokkoo fi kuma shantamii sadii fi dhibba jaa.

¹⁸ Isaan keessaa namooti kum torbaatam ba'aa akka ba'atanu, namooti kum saddeettami gaara irraa dhakaa akka bocanu, namooti kum sadii fi dhibbi jaa, hujii akka toowatanu godhe.

3

Solomoon Galma Ijaare

¹ Achiin duuba Solomoon Yersaaleem keessatti gaara Moriiyaa irratti, addee dur Mootiin Waan Maraa abbaa isaa Daawititti mudhatetti Galma Waaqaa ijaariisa jalqabe; Daawiti addee Mootiin Waan Maraa isatti mudhate sanitti eeddummee Ornaanii nama biyya Yibusootaa keessatti Galma Waaqaa ijaariisaaf qophowe.

² Solomoon mootii te'ee woggaa arfeesso'oo, ji'a lammeesso'oo keessa, guyyaa lammeesso'ootitti Galma Waaqaa san ijaariisa jalqabe.

³ Galmi Waaqaa ka Solomoon ijaariisa jalqabe, mikii* bara durii dheerinni isaa ciqilee jaatama, badhinni isaa ciqilee diddama.

⁴ Soroon isaa karaa fuula duraatiin, akkuma badhinna Galma sanii ciqilee diddama, ol dheerinni isi'iille ciqilee dhibbaa fi diddama; inni keessa isi'iille worqii qulluu itti gonfe.

* **3:3 Mikii:** Meeshaan miki'ii ka bara durii ciqilee'e.

⁵ Kolloon guddittiin Galma sanii muka hindheensaatiin ijaarantee, worqiin qulluun itti gonfantee, fakkiin muka meexxi'iitii fi haachabaa irratti kaafamane.

⁶ Mootichi Solomoon Galma san dhakaa gatii guddo'ootiin miidhasse; worqiin inni ittiin seese sun worqii biyya Faarwaayimii ti.

⁷ Maarre inni buusaa heellichoo Galmaa, keessa isaa, dhaaba isaa, saanga'aa fi mikikkila balbalaa isaa mara worqii itti gonfee, fakkii dada ol-gubba'aa ta koola qaddu dhaaba isaa irratti kaase.

⁸ Inni Addee Irra Caalaa Woyyittiille ijaarsise. Dheerinni isi'ii akkuma badhinna Galma sanii ciqilee diddama, badhinni isi'iille ciqilee diddama. Inni dhaaba isi'ii worqii qulluu kiiloogiraama kuma diddamaa fi dhibba afur geettu itti gonfe.

⁹ Mismaarri worqi'ii gara giraama dhibba shanii fi torbaatamaa ti; inni kolloota mana mana irraalle worqii itti gonfe.

¹⁰ Inni Addee Irra Caalaa Woyyittii keessatti fakkii dada ol-gubba'aa ta koola qadduu lama muka irraa hujisiisee, worqii itti gonfe.

¹¹ Dheerinni koola dada ol-gubba'aa ta koola qadduu sun ta lamaaniituu wolumatti ciqilee diddama; koollu dada ol-gubba'aa ta koola qadduu ta tokkeesso'oo gara tokkoon ciqilee shan dheeratee, dhaaba Galma Waaqaa bira geya; gara kaanille'een ciqilee shan dheeratee, koola dada ol-gubba'aa ka lammeesso'oo bira geya.

¹² Koollu dada ol-gubba'aa ta koola qadduu ka lammeesso'oo, koollu tokkochi ciqilee shan dheeratee, dhaaba Galma Waaqaa bira geya; gara kaanille'een ciqilee shan dheeratee, koola dada ol-gubba'aa ka tokkeesso'oo biralle geya.

¹³ Dadi ol-gubba'aa ta koola qaddu sun koola ifii Galma keessa ciqilee diddama diriirsanee, kolloo guddittii Galma saniititti fuula galanee miila ifitiin dhaabbatan.

¹⁴ Mootichi Solomoon Addee irra caalaa Woyyittii saniif gollaa bifa cuquliisaa, bifa dhiille'ee, bifa diima'aa quncee talba'aa dansaa irraa hujee fakkii dada ol-gubba'aa ta koola qadduu irratti huje.

Utuboota Sageettu'uu Lama

¹⁵ Mootichi Solomoon utuboota ciqilee soddonii shan dheeratanu lama Galma Waaqaa duratti hujisiise. Mataa utuboota sanii tokko tokkoo isaanii irratti guutuu ciqilee shan shan dheerattu hujisiise.

¹⁶ Inni haachaba wolitti xaxee miidhassee, qaccee utuboota sanii irra keyee, midhaan, «Muka rumaan» jedhamuu dhibba hujee haachaba saniin wolitti qassiise.

¹⁷ Inni utuboota san balbala Galma Waaqaa dura tokkocha gara middaatitti, kaan gara bita'aatitti dhaabe; ka gara middaa jiru, «Yaakiin», ka gara bita'aa jiru, «Bo'az» jedhee moggaase.

4

Meya Galma Waaqaa

(1 Mot. 7:23-51)

¹ Mootichi Solomoon addee ciinca'aa ta sageettu'uu ta dheerinni isi'ii ciqilee diddamaa, badhinni isi'ii ciqilee diddamaa, hojjaan isi'ii ciqilee kudhanii huje.

² Akkasuma inni waabaa bisaanii ka badhinni afaan isaa ciqilee kudhanii, hojjaan isaa ciqilee shanii, keessi gadhaa isaa ciqilee soddomaa sageettuu irraa huje.

³ Xiyyoo afaan waaba'aa jalatti fakkiin korommi'iin naanneffamanee hujamaneeran; waabaa bisaanii san irratti ciqilee tokko tokko irratti fakkiin korommi'ii kudhan kudhaniin tarree lamaan waabaa san woliin wolitti baqisiifamanee hujamaneeran.

⁴ Waabaan bisaanii sun dudda korommii kudhanii lamaa ta sageettuu irraa hujantee san irra dhaabbata; korommiin sun sad gara kaabaa, sad karaa aduun seentu, sad karaa kibbaa, sad karaa aduun baatu fuula galanee dudda wolitti garagalanee dhaabbataneeraniyyu; waabaan bisaanii sun dudda isaanii irra jiraayyu.

⁵ Furdinni waaba'aa haga badhinna barruu harkaa, xiyyoon afaan isaa akka afaan sini'ii gara duubaa garagalee hujamee daraaraa suufi'ii fakkaata; waabaan sun litirii kuma jaatama qabata.

⁶ Achiin duuba inni kennansi gubamu akka itti dhiqamuuf, qorii kudhan hujisiisee, shan gara kaabaatiin, shan gara kibbaatiin keye; waabaa bisaanii san hayyoota qofatti itti dhiqataayyu.

⁷ Inni akkuma seeraatitti, waan issaa irra keyanu worqii irraa hujee, shan gara kibbaatiin, shan gara kaabaatiin Galma Waaqaa keessa keye.

⁸ Akkasuma inni xarapheessaa kudhan hujee, shan gara kibbaatiin, shan gara kaabaatiin Galma Waaqaa keessa keye; inni ammalle qorii worqi'ii dhibba tokko hujee.

⁹ Inni badhinna dalleya keessaa ka Hayyootaa hujee, badhinna dalleya keessaa guddichalle hujee, balbaloota san sageettuu itti gonfe.

¹⁰ Waabaa bisaanii san Galma Waaqaa irraa gara kibbaa karaa aduun baatuun keye.

¹¹ Huraamille okkotee, akkaafa'aa fi qorii dhiiga fiffixanu qabattu hujee. Maarre inni meya Galma Waaqaa, Solomoonii mootichaaf hujee akkuma waadaa galetti fixe; mey inni hujee ka asii gad jiru:

¹² utuboota lama, qaccee utubootaa irratti guutuu akka qori'ii jirtu lama, guutuu akka qori'ii jirtu ta qaccee utuboota irraa san seesiisaaf caccoo sibiilaa lama,

¹³ guutuu akka qori'ii jirtu ta qaccee utubootaa irraa lamaan san seesiisaaf, waan akka midhaan rumaanii dhibba afur, tokko tokkoo isaaniitiif, waan akka midhaan rumaanii san tarree lama lamaan keye.

¹⁴ Inni waan meya irra keyanulle qorii itti dhiqatanu ta isii irra keyanu woliin,

¹⁵ waabaa bisaaniitii fi fakkii korommi'ii kudhanii lama ta waabaa jalaa,

¹⁶ okkotoota, akkaafota, filaa fooniitii fi meya waan kana woliin hujii gubbaa oolanu mara sageettuu morodante irraa, tajaajila Galma Mootii Waan Maraatiif akka te'anu mooticha Solomooniif hujee.

¹⁷ Mootichi Solomoon meya kana mara, dhooqa Yordaanosii keessatti addee faara itti dhowanutti Suukootii fi Zaaretaan wodhakka'atti hujisiise.

¹⁸ Mey mootichi Solomoon hujisiise kun marti hedduu waan te'eef, kiiloon sageettuu sanii hagana jedhamee hin beekkamuuyyu.

¹⁹ Maarre Solomoon meya Galma Waaqaa keessa ittiin tajaajilanu: addee ciinca'aa worqii irraa, xarapheessaa daabboo Waaqa dura dhikaattu irra keyanu,

²⁰ akkuma seera isaaniif kennametti waan issaa irra keyanu ka worqii qulluu irraa hujamane fi issaa isaan irra keyamanu ka addee irra caalaa woyyittii duratti ifanu,

²¹ worqii qullittii irraa waan akka daraara'aatitti miidhaffamane, issaa, qaraphaa,

²² qaraphaa issaa ittiin dhaanfanu, qorii dhiiga fiffixanu qabattu, girgiraa hixaanaa, bassoo daadhaa ittiin haranuu worqii qulluu irraa hujisiise. Balbalooti keessaa ta Addee Irra Caalaa Woyyitti'iitii fi balbalooti Galma Waaqaa ta gara kutaa guddo'oo seenanu worqii qulluu irraa hujamaneeran.

5

¹ Mootichi Solomoon hujii Galma Mootii Waan Maraa duudii fixeen duuba, waan abbaan isaa Daawiti hujii tanaaf adda baase mara meetii, worqi'ii fi meya mara mana meyaa ka Galma Waaqaa keessa keye.

Saanduqa Gondooro'oo Gara Galma Waaqaa Fidane

² Achiin duuba Solomoon jaarsolee Israa'elii mara, sooreyyii gosa Israa'eliitii fi maatii Israa'eloota mara Yerusaa'lemitti waansisee, qachaa Daawitii Xiyyoon keessaa Saanduqa Gondooro'oo akka fidanuuf ajaje.

³ Namooti Israa'elii marti yennaa jila ji'a torbeesso'oo keessa jilifatanu mooticha biratti wolitti qabamane.

⁴ Jaarsoleen Israa'elii marti wolitti qabamaneen duuba, Lewwooti Saanduqa Gondooro'oo fuudhane,

⁵ gara Galma Waaqaa geessane; Lewwooti hayyoota te'ane Dunkaanii Woldeenna'aatii fi meya woyyicha isii keessaa mara ba'atanee ol fidane.

⁶ Mootichi Solomoonii fi wolde'i kolbaa Israa'elii marti Saanduqa Gondooro'oo duratti wolitti qabamane hoole'ee fi korommii hedduu ta laakkossi isaanii hagana hin jedhanne ciincaa dhikeessane.

⁷ Achiin duuba hayyooti Saanduqa Gondooro'oo ta Mootii Waan Maraa gara Addee Irra Caalaa Woyyitti'ii ta Galma Waaqaa keessaa geessanee, koola dada ol-gubba'aa ta koola qadduu jala keyane.

⁸ Dadi ol-gubba'aa ta koola qaddu sun addee Saanduqa Gondooro'ootiin gubbaa koola ifii diriirsanee, Saanduqa Gondooro'ootii fi danqaroota isi'ii gollaneeran.

⁹ Danqarooti sun guddoo dhedheeraa waan te'aneef, qacceed isaanii nama Galma Waaqaa keessa addee irra caalaa woyyittii dura dhaabbatutti hin mudhatti; nama Galma Waaqaatiin ala jirutti hin mudhattu; danqarooti sun haga adhaalle achuma jiran.

¹⁰ Kolbaan Israa'elii biyya Gibxi'ii keessaa yennaa baate, Mootiin Waan Maraa isaan waliin Gondooroo yennaa godhe, gaara Siina'aa irratti, dhakaa baxxicha lamaan ajaji kudhan irra jiru, ka Muuseen achi keessa keye malee, wonni dhibiin Saanduqa Gondooro'oo san keessa hin jirtu.

Ulfina Mootii Waan Maraa

¹¹ Hayyooti Galma Waaqaa keessaa gad bayane. Hayyooti worri achi jiranu martinuu, ka badoon hujii isaanii yennaa san hin te'inille ifi woyyoonsane.

¹² Lewwooti faarfattooti marti, Asaaf, Hemaanii fi Yedutuun, ilmaan isaaniitii fi dhiirti fira isaanii achi jiraniyyu; isaan woyaa dansaa ta quncee talba'aa irraa hujante uffatanee, addee ciinca'aa irraa karaa aduun baatu dhaabbatanee, sibiila wolitti dhowamee qilillisuun, maseengo'oo fi ki-raaraan faarfatane. Hayyooti dhibbaa fi diddam isaan cinaa dhaabbatanee tultullaa afuufane.

¹³ Worri tultullaa afuufuu fi faarfattooti qoonqoo ifii wolqixxeessanee waliin faarfatanu Mootii Waan Maraa leellifatane; isaan tultulla'aan, sibiila wolitti dhowamee qilillisuun, meya gara garaatiin, qoonqoo guddoolle'een, «Inni dansa'a; jaalalli isaalle haga bara baraa hin jiraata» jedhanee, Mootii Waan Maraa leellifatane. Achiin duuba duumensi Galma Mootii Waan Maraa guute.

¹⁴ Ulfinni Mootii Waan Maraa Galma Waaqaa waan guuteef, sababa dumensaatiif, hayyooti tajaajila ifitiif dhaabbatiisa hin dandeenne.

6

Dubbii Solomoon Eebba Galma Waaqaa Irratti Dubbate

¹ Achiin duuba mootichi Solomoon, «Ee Mootii Waan Maraa, ati, «Dumensa ciggaa dukkanowaa keessa jiraadha» jetteerta.

² «Ani galma guddaa miidhagaa ati haga bara baraa keessa leetu si'iif ijaareera» jedhe.

³ Achiin duuba wolde'i Israa'elii marti adoo achi dhaabbatiisatti jiranuu mootichi gara isaanii garagalee isaan eebbise.

⁴ Inni, «Mootiin Waan Maraa, Waaqi Israa'elii leellifamuu ti! Inni waan afaan ifitiin abbaa kiyya Daawitiif waadaa gale muummesseera; inni abbaa kiyya Daawitiin,

⁵ «Kolbaa tiyya Israa'el biyya Gibxi'ii keessaa haga baasee, qachaa gosa Israa'elii keessaa addee ulfinna maqaa kiyyaatiif Galmi kiyya itti ijaaramu, nama kolbaa tiyya Israa'elii sooressulle namuuyyuu ani hin filanne.

⁶ Amma ammoo ani maqaa kiyyaaf Yerusaalem filadheera; ati Daawiti kolbaa tiyya Israa'el akka bulchituuf si filadheera» jedheera.

⁷ «Abbaan kiyya Daawiti maqaa Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'eliitiif Galma ijaariisaaf gadhaa keessatti yaadateeraayyu.

⁸ Mootiin Waan Maraa ammoo abbaa kiyya Daawitiin, «Ati maqaa kiyyaaf Galma naaf ijaariisaaf yaadatiis keeti dansa'a.

⁹ Te'uu malee ilmuma keeti ka ati uumatutti maqaa kiyyaaf Galma naaf ijaara malee si'ii moti» jedhe.

¹⁰ Amma Mootiin Waan Maraa waadaa gale san muummesseera. Ani akkuma inni waadaa gale san addee abbaa kiyya Daawitiititti mootii te'ee, barcumaa mootumma'aa ka Israa'elii irra tee'ee, maqaa Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'eliitiif Galma Waaqaa ijaareera.

¹¹ Saanduqa Gondooro'oo ta Gondooroon Mootii Waan Maraa kolbaa Israa'elii woliin gondoorate keessa jirtu achi keessa keyeera» jedhe.

Daadimata Solomoonii

¹² Achiin duuba Solomoon addee ciinca'aa ta Mootii Waan Maraa dura dhaabbatee, wolde'a Israa'elii duratti, harka ifi diriirse.

¹³ Inni waan irra dhaabbatanee dubbatanu ta dheerinni isi'ii ciqilee shanii, badhinni isi'ii ciqilee sadii, hojjaan isi'iille ciqilee sadii sageettuu irraa hujisiisee, odduu badhinna dalleya keessaa ka gara alaa keessa keye. Achiin duuba waan san irra dhaabbatee, wolde'a Israa'elii mara duratti jilbiiffatee, harka ifi gara ol-gubba'aa badhisee,

¹⁴ «Ee Mootii Waan Maraa, Waaqa Israa'elii, ol-gubbaa keessa yookiin biyya lafaa irra Waaqi akka keetii hin jiru; ati tajaajiltoota teeti ta gadhaa tokkochaan fuula keeti dura deddeebi'anuu Gondooro'oo fi jaalala keeti ka bara baraa hin eedda.

¹⁵ Ati tajaajilaa keeti abbaa kiyya Daawitiif waadaa galte muummessiteerta; waan dur afaan keetiin dubbatte adha kunoo harka keetiin muummessiteerta.

¹⁶ Amma, Mootii Waan Maraa, Waaqa Israa'elii, waan tajaajilaa keeti abbaa kiyya Daawitiin, «Akkuma ati fuula kiyya dura deddeebite, sanyiin teetille waan gootu maraan akka ajaja kiyyaatitti yoo deddeebite, nami isaan keessaa mootii te'ee barcumaa mootumma'aa ka Israa'elii irra fuula kiyya dura tee'u hin dhabamu» jettee waadaa galte san naaf eegi.

¹⁷ Amma, ee Mootii Waan Maraa, Waaqa Israa'elii, jecha tajaajilaa keeti Daawitiif waadaa galte san muummessi.

¹⁸ «Ee Waaqa, ati dhugumaan biyya lafaa irra namoota woliin leetaa ree? Ol-gubba'aa fi ol-gubbaan oliituu si fuudhuu hin dandeettu; Galmi ani ijaare kun fa'a attam attam diqqaatu ree!

¹⁹ Ee Mootii Waan Maraa, Waaqa kiyya, daadimataa fi gaaffii mararti'ii ta ana tajaajilaa keetii dhage'i; iyyaa fi daadimata ani tajaajilaan keeti fuula keeti duratti dhikeeffadhu naa caqasi.

²⁰ Ilti teeti halkanii fi guyyaa gara Galma akka maqaan keeti keessa jiraatu goote kanaa ilaaltuu ti. Daadimata ani tajaajilaan keeti gara Galma kanaa fuula galee daadimadhu naaf dhage'i.

²¹ Daadimata ani tajaajilaan keetii fi kolbaan teeti Israa'elii gara addee tanaa fuula gallee daadimannu, ol-gubbaa bultoo teeti irraa nuu dhage'iitii, nuu araaram.

²² «Nami tokko nama dhibii irratti cubbuu hujee, cubbuu huje saniif gara Galma kanaa dhufee, gara addee ciinca'aa teetii dhikaatee akka kakatuuf yoo gaafatame,

²³ ol-gubbaa irraa dhage'iitii mura kenni; tajaajiltoota teetiif mura yennaa kennitu ka yakkeef akkuma yakkaa isaatitti mataa isaatitti deebis; balchichaalle balchummaa isaa mudhisiisaan akkuma balchummaa isaatitti isaaf kaffali.

²⁴ «Kolbaan teeti Israa'el waan si yakkiteef, diinota ifitiin yoo injifatante, gaabbitee, gara keeti deebitee, Galma kana keessatti fuula keeti duratti daadimataa maqaa keeti yoo waammatte,

²⁵ ati ol-gubbaa irraa isaaniif dhage'iitii, cubbuu kolbaa teeti Israa'elii araaramiitii, gara lafa isaanii fi abbootii isaaniitiif kennitee isaan deebisi.

²⁶ «Isaan waan si yakkaneef ol-gubbaan cufantee, bokkeenni roobiisa yenna dhabu, sababa cubbuu isaaniitiif, ati waan isaan rakkitteef, isaan gara addee tanaa fuula galanee yoo daadimatane, maqaa keeti yoo waammataane, cubbuu ifii irraa yoo deebi'ane,

²⁷ ati ol-gubbaa irraa isaaniif dhage'iitii, cubbuu tajaajiltoota teeti kolbaa Israa'elii araaram. Karaa qajeelaa irra akka deemanu isaan barsiisi; lafa kolbaa teetiif dhaala gootee kennite irralle'etti bokkeya roobisiisi.

²⁸ «Yennaa beelti yookiin balaan lafa irratti bu'u shantoon, oolaan, awwaannisii fi korophiis midhaan balleessu yookiin yennaa diinni qachaa isaanii keessatti isaan marsee badiin yookiin dhukkubi adda addaa dhufu,

²⁹ kolbaa teeti Israa'el mara keessaa yookiin isaan keessaa nami tokko rakkinnii fi dhukkubbiin isaa itti dhage'antee, harka ifii gara Galma kanaa diriirsee daadimatee yoo gaafate,

³⁰ ati ol-gubbaa addee bultoo teetii irraa dhage'iitii isaaniif araarami; gadhaa namaa ka beeku si qofa waan teeteef, nama tokko tokkoofuu akka hujii isaatitti gatii isaaf kenni.

³¹ Achiin duuba isaan lafa ati abbootii teennaaf kennite keessa bara le'anuu mara si hin sodaatan; karaa keetille hin deeman.

³² «Akkasuma ormi tokko ka kolbaa teeti Israa'el keessaa hin te'in, marroo maqaa keeti gudda'aa, marroo irree teeti jaddu'uutii fi harka keeti ka diriiree dhage'ee biyya fago'ootii dhufee, gara Galma kanaa fuula galee yoo daadimate,

³³ ol-gubbaa addee bultoo teetii irraa isaaf dhage'i. Kolbaan lafa irraa marti akkuma kolbaa teeti Israa'elii maqaa keeti beekanee akka si sodaatanu, Galmi ani ijaare kun maqaa keetiin akka waamamu akka beekanu waan ormi sun si gaafatu mara isaaf dhage'i.

³⁴ «Kolbaan teeti diinota ifii loliisaaf gara ati isaan ergitu mara yennaa dhaqanu, gara qachaa ati filattee kanaa fi gara Galma ani si'iif ijaaree kana fuula galanee yennaa daadimatanu,

³⁵ ati ol-gubbaa irraa daadimataa fi gaaffii isaanii dhage'iitii, haajaa isaanii muummessiif.

³⁶ «Nami hin yakkine waan hin jirreef, kolbaan teeti yoo si yakkitu, ati isaanitti aartee, diinota isaanii ka isaan booji'ee biyya fago'oo yookiin dhiko'oo isaan geessanutti dabarsitee yoo isaan kennitu,

³⁷ kolbaan teeti lafa booji'ante san keessatti qalbii ifitiin gara keeti deebitee, «Cubbuu hunyeerra; yakkineerra; waan hantuu tolchineerra» yoo jette,

³⁸ Lafa itti booji'amane san keessatti gadhaa ifii tokkoochaa fi lubbuu ifii takkatti'in gara keeti deebi'anee, gara lafa ati abbootii isaaniitiif kennitee, gara qachaa ati filattee, gara Galma ani si'iif ijaaree kana fuula galanee yoo daadimatane,

³⁹ ati ol-gubbaa addee bultoo teetii irraa daadimataa fi gaaffii isaanii dhage'iitii, haajaa isaanii muummessiif; kolbaa teeti ta si yakkiteef araaramiifille'e.

⁴⁰ «Amma, ee Waaqa kiyya, ilti teeti gara daadimata addee tanaa ilaaltuu ti; gurri keetille gara daadimata addee tanaa caqasuu ti.

⁴¹ Amma, ee Mootii Waan Maraa Waaqa ka'i! Saanduqa Gondooro'oo ka hunna teeti mudhisu woliin gara addee foora teeti koyi. Ee Mootii Waan Maraa Waaqa, hayyooti teeti fayyinna uffatanuu ti; woyyooti teeti dandummaa teetiin firinxiixanuu ti.

⁴² Ee Mootii Waan Maraa Waaqa, ka muudde san hin lakkisin; jaalala keeti ka bara baraa ka tajaajilaa keeti Daawitiif waadaa galte yaadadhu» jedhe.

7

Eebba Galma Waaqaa (1 Mot. 8:62-66)

¹ Mootichi Solomoon daadimatiisa ifii fixateen duuba, ibiddi ol-gubbaa irraa gad bu'ee kennansa gubamuu fi ciincaa dhikaate san nyaatee fixe; ulfinni Mootii Waan Maraalle Galma Waaqaa san guute.

² Ulfinni Mootii Waan Maraa Galma Waaqaa san waan guuteef, hayyooti achi keessa seenuu hin dandeenne.

³ Kolbaan Israa'elii marti ibiddi gad bu'aaruun, ulfinna Mootii Waan Maraa Galma Waaqaa guutuun yennaa dhaggite, dhakaa afame irratti jilbiif-fatane, fuulaan gad gombifamanee Mootii Waan Maraa waaqonfataa, «Inni dansa'a; jaalalli isaa jaalala bara baraa ti» jedhanee isa leellisane.

⁴ Achiin duuba mootichi Solomoonii fi kolbaan Israa'elii marti Mootii Waan Maraatiif ciincaa dhikeessane.

⁵ Mootichi Solomoon loon kuma diddamii lama, hoole'ee fi re'ee kuma dhibba tokkoo fi kuma diddama ciincaa dhikeesse. Maarre innii fi kolbaan marti Galma Waaqaa eebbisane.

⁶ Hayyooti addee isaaniif kennante dhaabbatane; Lewwootille meya ittiin faarsanu, ka Daawiti dur Mootii Waan Maraa akka ittiin leellifatanuuf hujisiise, ka ittiin, «Jaalalli isaa jaalala bara baraa ti» jedhanee faarsanu san qabatanee dhaabbatane; hayyooti fuullee Lewwootaatitti dhaabbatane tultullaa yennaa afuufanu, Israa'elooti achi jiranu martinuu dhaabbatane.

⁷ Addeen ciincaa'aa ta Solomoon sageettuu irraa hujisiise sun ciincaa duuduma gubamuuf, kennansa midhaaniitii fi moora ciinceffamuuf waan dhiphatteef, Solomoon badhinna dalleya keessaa ka Galma Mootii Waan

Maraa dura jiru ka wodhakkaa addee ciincaan itti dhikaattuu eebbisee, achitti ciincaa gubamuu fi moora ciinceffamu dhikeesse.

⁸ Solomoonii fi kolbaan Israa'elii marti torbaan tokko achitti jila jilifatane; seensuma Haamaatii irraa kaasee haga laga Gibxi'iititti gumiin hedduun wolitti qabante.

⁹ Jila eebba addee ciinca'aa guyyaa torba jilifatane; itti dabalaneelle guyyaa torba jila jilifatanee, guyyaa saddeetesso'oo yaa'ii woyyittii godhatane.

¹⁰ Guyyaa itti aanu, Solomoon ji'a torbeesso'oo keessa guyyaa diddamii sadeesso'ootitti kolbaan gara mana ifii akka galanu godhe. Isaan marroo waan dansaa Mootiin Waan Maraa kolbaa ifitiif, Daawitii fi Solomooniif godhee gammadaa galane.

Waaqi Ammalle Solomoonitti Mudhate

(1 Mot. 9:1-9)

¹¹ Solomoon Galma Mootii Waan Maraatii fi mana mootumma'aa ijaaree fixe; inni Galma Mootii Waan Maraatii fi mana mootumma'aa waan hujiisaaf yaade mara fixe.

¹² Achiin duuba Mootiin Waan Maraa halkaniin isatti mudhatee, «Ani daadimata keeti dhage'eera; Galmi kunille addee ciincaa naaf itti dhi-keessanu akka te'uuf filadheera.

¹³ Ani bokkeenni akka hin roonne ol-gubbaa yennaa cufu yookiin awwaannisi midhaan keessan akka fixu yennaa ajaju yookiin kolbaa tiyya irratti balaa yennaa buusu,

¹⁴ kolbaan tiyya ta maqaa kiyyaan waammantu yoo gad ifi qaddee, daadimattee fuula kiyyaa yoo barbaaddee, karaa ifii hamaa irraa yoo deebite, ani ol-gubbaa irraa isaaniif hin dhage'a; cubbuu isaaniille isaaniif araaramee, lafa isaanii hin fayyisa.

¹⁵ Ilti tiyya gara daadimata addee tanaa hin ilaalti; gurri kiyyalle isii hin caqasa.

¹⁶ Maqaan kiyya haga bara baraa achi keessa akka jiraatuuf ani Galma kana filadheera; ilti tiyyaa fi gadhaan kiyya yennaa mara achi hin jiraata.

¹⁷ Atille akkuma abbaan keeti Daawiti godhe, fuula kiyya dura ded-deebitee waan ani si ajaje mara yoo goote, seerataa fi seera kiyya yoo eegatte,

¹⁸ achiin duuba ani akkuma dur abbaa keeti Daawitiin, «Israa'el ka bulchu sanyii teeti keessaa hin dhabamu» jedhee waadaa isaaf gale, ani barcumaa mootumma'aa keeti hin jabeessa.

¹⁹ Isin ammoo seerataa fi ajaja ani isinii kenne lakkittanee, waaqota dhibii yoo waaqonfattane,

²⁰ ani lafa isiniif kenne keessaa isin hin baasa; Galma maqaa kiyyaatiif adda baafadhe kanalle hin lakkisa; odduu kolbaa maraatiitti waan mam-maassaatii fi murgo'oo godha.

²¹ «Galmi kun amma ka baaseffachiisu te'ulle worri karaa san dabaru maadeffataa, «Mootiin Waan Maraa maaf waan akkasii lafa tanaa fi Galma kana irratti godhe?» hin jedhan.

²² Kolbaan deebittee, «Sababa isaan Mootii Waan Maraa Waaqa abbootii ifii ka biyya Gibxi'ii keessaa isaan baase lakkisane, waaqota dhibi'itti maxxanatee, isaan waaqonfatane, isaan tajaajilaneef, badii tana mara isaanitti fide» hin jetti» jedhe.

8

Hujii Solomoon Huje Ta Dhibii

¹ Mootichi Solomoon Galma Waaqaatii fi mana mootumma'aa ka ifii wog-gaa diddama ijaareen duuba,

² olloota Hiiraam isaaf kenne haaressee ijaaree, Israa'eloota achi keessa qubachiise.

³ Achiin duuba Solomoon gara biyya Haamaat-Zobaatii duulee qabate.

⁴ Inni ammalle goomolee keessatti qachaa Tadmoorii ijaareen duuba, kutaa Haamaatii keessalle'etti qachoota gootaraa midhaaniitii fi mana meya adda addaa ijaarsise.

⁵ Inni Bet-Horoonii Gubba'aatii fi Bet-Horoonii Jalaa ijaarsisee dalleya dhaka'aa itti ijaaree, karraa fi dangaraa itti tolche.

⁶ Akkasuma qachaa Ba'aalaatii, qachoota gootaraa midhaaniitii fi qachoota meya adda addaa mara, qachoota garreettaan fardaan harkifamu keessa tee'anuu fi qachoota abbootiin fardaa keessa le'anuu, waan ijaaruu yaade maralle Yerusaalemitti, Libaanonitti, kutaa biyya ifii bulche mara keessalle'etti ijaarsise.

⁷ Sanyii Israa'elii ka hin te'in, worra achitti hafane mara Heetota, Amoorota, Pheriizota, Hiiwotaa fi Yibusoota,

⁸ sanyii isaanii ka Israa'elooti balleessuu lakkisanee lafa san keessatti hamburane mara, Solomoon haga adhaatitti isaan garboonfatee, akka isaaf tajaajilanu godhate.

⁹ Israa'eloota ammoo loltoota ifii, ajajjoota loltoota ifii, ajajjoota garreettota fardaan harkifamanuutii fi abbootii fardaa godhate malee, akka garbootaatitti hin hujisiifanne.

¹⁰ Mootichi Solomoon qondaaltota sooreyyii dhibba lamaa fi shantama qabaayyu.

¹¹ Solomoon, «Addeen Saanduqi Gondooroo'oo jirtu woyyuu waan teeteef, haati manaa tiyya mana mootumma'aa ka Daawitii mootii Israa'elii keessa le'uu isii hin barbaachisu» jedhee, haadha manaa ifii intala mootii Gibxi'ii qachaa Daawitii keessaa gara mana mootumma'aa ka isi'iif ijaaree geesse.

¹² Achiin duuba Solomoon kennansa gubamu addee ciinca'aa ta Mootii Waan Maraa, ta soro'oon duratti ijaare irratti ciincaa Mootii Waan Maraatiif dhikeesse.

¹³ Inni akkuma Muuseen ajajetti guyyaa guyya'atti, guyyaa Sanbataatitti, baatii ji'aatitti, jila wogga'atti yennaa sad jilifantutti, jila daabboo uukoo hin qanneetitti, jila torbaan torbaatii fi jila gose'eetitti ciincaa Mootii Waan Maraatiif dhikeesse.

¹⁴ Inni seera abbaa ifii Daawitii hordofiisaan hayyoota hujii hujii isaaniititti, Lewwoota waan guyyaa guyya'aan barbaachisu hayyoota akka qarqaaranuuf, faaruulle'een leellisa akka dhikeessanu hujii hujii isaaniititti isaan ramade; inni ammalle akkuma nami Waaqaa Daawiti ajaje, worri karra eegu karra mara akka eeganu godhe.

¹⁵ Nami tokkole waan mootichi marroo hayyootaatii fi Lewwootaa, akka-suma marroo mana qabeennaatii fi waan inni ajaje maraayyuu irraa hin gorre.

¹⁶ Guyyaa hundeen Galma Waaqaa keyantee jalqabee haga guyyaa ijaarsi dhumateetitti, huiiin Solomoonii marti teeteef. Maarre ijaarsi Galma Waaqaa hobba'e.

¹⁷ Achiin duuba Solomooniin mootichi gara qachaa Eziyon-Geberiitii fi qachaa Elootii ka biyya Edoomii keessa irga abbaaya'aa jiranuu dhaqe.

¹⁸ Hiiraamiin mootichi qondaaltota ifii keessaa harka worra hoboloo guddittii oofuu beekuutitti hoboloota gugurdo'oo fi namoota waan abbaaya'aa beekanu Solomooniif erge; jarri sun qondaaltota Solomoonii woliin lafa

Ofiirii dhaqanee, worqii gara kiiloogiraama kuma kudhanii shanii ol Solomoonii mootichaaf fidane.

9

Mootittiin biyya Sheebaa Solomoon Dhaxxee Ilaalte (1 Mot. 10:1-13)

¹ Mootittiin biyya Sheeba'aa gurra Solomoonii dhageettee, gaaffii rakkituu isa gaafatiisaaf gara Yerusaalemii dhutte. Isiin namoota hedduu qabatee uddowaa adda addaa, worqi'ii fi dhakaa gatii guddo'oo bacaa gaalotatti feesifattee dhuttee, yennaa Solomooniin wol dhaggite, waan gadhaa ifiititti yaadatte mara isa woliin dubbatte.

² Solomoon waan isiin gaafatte maraaf deebii kenne; wonni inni isi'iif deebii kennuu dadhabe takkaalle hin jirtu.

³ Mootittiin biyya Sheeba'aa qarummaa Solomooniitii fi mana mootumma'aa ka inni ijaarelle yennaa dhageette,

⁴ isiin sagalee qorii isaatitti dhikaattu, akka qondaaltoti isaa itti tee'anu, akka tajaajiltooti isaa tajaajila isaaf kennanuu fi akka isaan uffana ifii itti uffataneeranu, akka Solomoon Galma Waaqaa keessatti ciincaa itti dhikeessu yennaa dhaggite, guddoo maadeffatte.

⁵ Isiin mootichaan, «Marroo hujii teetiitii fi marroo qarummaa teetii wonni ani biyya tiyya keessatti dhage'e dhuga'a.

⁶ Ani haga ifumaafuu dhufee dhaggutti waan natti himane hin dhugeeffanne. Ani qarummaa teeti gamisaayyuu hin dhageenne. Ati ta kolbaan jettuuyyuu hin caalta.

⁷ Namooti keeti worri si tajaajilanu attam attam ka hiree dansaa qabanu! Qondaaltoti teeti worri yennaa mara si dura dhaabbatane, qarummaa teeti dhage'anu attam attam ka badhaadhane!

⁸ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti ka si jaalatee, barcumaa mootumma'aa ka ifii irra si teessisee, akka ati bulchituuf mootii ka si godhe leellifamuu ti. Inni kolbaa ifii Israa'el waan jaalatuuf haga bara baraa akka isaan le'anuu waan fedhuuf, ati haga akka murtuu fi balchummaa akka hujju isaan irratti mootii si godheera» jette.

⁹ Achiin duuba isiin worqii kiiloogiraama kuma afurii caaltu, uddowaa adda addaa baca'aa fi dhakaa gatii guddo'oo Solomooniif kennite. Uddowaan akka uddowaa mootittiin biyya Sheeba'aa Solomoonii mootichaaf kennitee, tokkolle dhaggamee hin beeku.

¹⁰ Namooti Hiiraamii mootichaatii fi Solomoonii mootichaa ka worqii biyya Ofiiriitii fidane, muka sandali'iitii fi dhakaa gatii guddo'oolle fidane.

¹¹ Mootichi muka sandali'ii san irraa yaabbannoo Galma Waaqaatii fi mana mootumma'aa, faarsitootaafille kiraaraa fi maseengoo hujisiise; wonni akkasii haga adhaatitti biyya Yihuda'aa keessatti dhaggantee hin beettu.

¹² Mootichi Solomoon waan mootittiin biyya Sheeba'aa isaaf fidde caalaa, waan isiin kadhattee fi waan gadhaan isi'ii yaade mara kenneef. Achiin duuba isiin namoota ifii woliin gara biyya Sheeba'aa deebite.

Durummaa Solomoonii

¹³ Mootichi Solomoon woggaa wogga'atti worqii kiiloogiraama kuma diddamii sadii dhaggataayyu.

¹⁴ Kana biratti daldaltooti gugurdo'oo fi daldaltooti dhibiin gibira isaaf fidane; moototi biyya Arabootaatii fi bulchitooti lafaa marti worqi'ii fi meetii Solomooniif fidane.

¹⁵ Mootichi Solomoon wontee gugurdoo dhibba lama worqii irraa hujisiise; wonteen worqi'ii tokko tokkoon isi'iituu worqii gara kiiloogiraama torbaa ti.

¹⁶ Inni wontee didiqqoo dhibba sadille worqii irraa hujisiise; wonteen didiqqoon sun tokko tokkoon isi'iituu worqii gara kiloogiraama lamaa ti. Mootichi wontee tana mara mana mootumma'aa ka, «Gongomaa Libaanonii» jedhamu keessa keye.

¹⁷ Mootichi barcumaa mana mootumma'aa guddaa tokko ilka arbaa irraa hujisiisee, worqii qulluu itti gonfe.

¹⁸ Barcumaan mana mootumma'aa sun yaabbannoo jaa fi faanoo miilaa ka barcumaa mootumma'aatiin wolitti qassiifamee worqii irraa hujame qabaayyu; cinaa isaa middaa fi bita'aan waan harka irra keyatanu qabaayyu. Waan harka irra keyatanu san gama lamaaniinuu fakkii neenqaa lamatti dhaabbateera.

¹⁹ Qaccee yaabbannoo jaa gubbaa gara lamaaniinuu fakkii neenqaa kudhanii lamaatitti dhaabbateera. Barcumaan mootumma'aa ka akkasii mootummaa dhibii takkattii keessalle'etti hujamee hin beeku.

²⁰ Mey mootichi Solomoon ka itti unanu martinuu, meyya mana mootumma'aa, «Gongomaa Libaanonii» jedhamu keessa jiru martinuu worqii qulluu irraa hujameera. Bara Solomoonii meetiin akka waan gatii qabuu waan hin laakkowaneef, wonni tokkolle ittiin hin hujanne.

²¹ Mootichi hoboloo gugurdoo biyya Tarshiishiititti deddeebi'aa daldalanu qabaayyu; hoboloota san ka oofu tajaajiltoota Hiiraamii ti; hobolooti sun woggaa sad keessatti yennaa tokko worqii, meetii, ilka arbaa, jaldeessaa fi qalamee* biyya Tarshiishiitii fidaniyyu.

²² Mootichi Solomoon qarumma'aa fi durumma'aan mootota biyya lafaa mara caalaayyu.

²³ Moototi biyya lafaa martinuu qarummaa Waaqi Solomooniif kenne dhage'iisaaf, isa dhaggiisa halchane.

²⁴ Worri isa bira dhufane martinuu meyya meeti'ii fi worqii irraa hujame, woyaa, meyya woraanaa, qumbii, uddowaa, fardoolee, gaangoolee, wogguma wogga'aan woggaa baca isaaf fidane.

²⁵ Solomoon gola fardoole'eetii fi garreettaa fardaan harkifamanuu kuma afurii fi abbootii fardoole'ee kuma kudhanii lama qabaayyu; inni isaan kana keessaa garii qachoota garreettaan fardaan harkifamanu keessa keyamanu keessa keyee, garii ifi bira Yerusaalem keessa keye.

²⁶ Inni laga Efraaxiisiitii kaasee haga biyya Filisxeemotaa haga meessaa biyya Gibxi'iititti mootota mara irratti mootii te'e.

²⁷ Mootichi Yerusaalem keessatti meetiin akka dhaka'aa akka bacattu, birbirsi akka muka harru'uu ka lafa gaaraa jalaa akka bacatu godhe.

²⁸ Fardoolee biyya Gibxi'iitii fi ta lafa mara keessaa Solomooniif fidane.

Solomoon Du'e (1 Mot. 11:41-43)

²⁹ Wanni mootichi Solomoon bara mootummaa ifii keessa huje ta dhibiin, jalqabaa haga dhumaatitti barreeffama Naataanii raagichaa, kitaaba raagaa ka Ahiiyaa nama biyya Shiiloniitii fi mudhii Iddoon nami mudhii dhaggu marroo Yerobi'aamii ilma Nebaatii dhagge keessatti barreeffanteerti;

³⁰ Solomoon Yerusaalem keessa tee'ee woggaa afurtama Israa'el mara irratti mootii te'e.

* **9:21** Qalamee: Lafa tokko tokkotti qamaleejedhanti.

³¹ Achiin duuba Solomoon du'ee, qachaa Daawitii abbaa ifii keessatti awwaalame; ilmi isaa Rehobiyaam addee isaatitti mootii te'e.

10

Gosi Israa'elii Ta Kaabaa Rehobiyaam Finqilte

¹ Israa'elooti marti mootii isa godhatiisaaf Sheekem waan dhaqaneef, Rehobiyaamille achi dhage.

² Ilmi Nebaatii Yerobi'aam, ka Solomoon duraa gara biyya Gibxi'ii baqa-teeru, oduu tana yennaa dhage'e, deebi'ee dhufe.

³ Maarre kolbaan Israa'elii ta gara kaabaa, isa waansitte; innii fi wolde'i Israa'elii marti, gara Rehobiyaamii dhaqanee,

⁴ «Abbaan keeti Solomoon waanjoo ulfaattuu nutti fe'eera. Ati ammoo amma hujii ulfaattu'uu fi waanjoo ulfaattuu abbaan keeti nutti fe'e, yoo nuu sallitte, nuutille si'iif hin ajajanna» jedhane.

⁵ Rehobiyaam deebisee, «Amma deema'aatii, guyyaa sadiin duuba deebi'a'aa kowa'a» jedheen. Maarre kolbaan sun deebitee galte.

⁶ Achiin duuba Rehobiyaamiin mootichi, jaarsolee dur abbaa isaa Solomooniif gorsa kennitu wolitti qabee, «Kolbaa tanaaf deebii attamii akka kennu natti gorsitan?» jedhee gaafate.

⁷ Isaan deebisane, «Ati kolbaa tanaaf gadhaa laatee, isaan gammachiittee deebii dansaa yoo isaaniif deebitte, isaan yennaa mara si hin tajaajilan» jedhane.

⁸ Rehobiyaam ammoo gorsa jaarsole'ee tuffatee, dargaggoota isa woliin guddatte, ta isa gorsitu woliin mari'ate.

⁹ Inni, «Kolbaa, «Waanjoo abbaan keeti nutti fe'e, nutti sallisi!» jettu tanaaf deebii attamii kennina? Gorsa attamii naa kennitan?» jedhee isaan gaafate.

¹⁰ Isaan deebisane, «Kolbaa «Abbaan keeti waanjoo ulfaattuu nutti fe'eera; ati ammoo nutti sallisi!» jettu tanaan, «Qubi kiyya maandhich, hidha abbaa kiyyaa caala furduta.

¹¹ Abbaan kiyya waanjoo ulfaattuu isinitti fe'eera; ani ammoo ta san caaltu isinitti hin fe'a; abbaan kiyya liche'een isin dhaane; ani ammoo lichee qaccee irraa akka makkaa qara qadduun isin hin dhaana» jedhiin» jedhane.

¹² Akkuma mootichi, «Guyyaa sadiin duuba deebi'aatii, kowa'a» jedhe, Yerobi'aamii fi kolbaan martinuu deebi'ane, gara Rehobiyaamii dhufane.

¹³ Rehobiyaamiin mootichi gorsa jaarsoleen isaaf kennite tuffatee, xixxa'aan deebii isaaniif kenne.

¹⁴ Inni gorsa dargaggootaa fudhatee, «Abbaan kiyya waanjoo ulfaattuu isinitti fe'e; ani ammoo ta san caaltu isinitti hin fe'a; abbaan kiyya liche'een isin dhaane; ani ammoo lichee qaccee irraa akka makkaa qara qadduun isin hin dhaana» jedheen.

¹⁵ Maarre wonni kun Waaqa irraa waan teeteef, mootichi dubbii kolba'aa hin dhageenne; wonni Waaqi karaa Ahiiyaa nama biyya Shiiloniitiin, ilma Nebaatii Yerobi'aamitti dubbate tanaan muummotte.

¹⁶ Mootichi akka isaaniif dhage'uu dide Israa'elooti yennaa dhaggane,
«Nuuti Daawiti woliin
gooda maan qanna?
Maatii abbaa isaa Iseyii biraa
dhaala maan qanna?

Ee Israa'el gara dunkaanii teessanii deebi'a'a!
Ee sanyii Daawitii
mana keetiif yaad» jedhane,
mootichaaf deebii kennane.

Maarre isaan marti gara dunkaanii ifii deebi'ane.

¹⁷ Rehobiyaam ammoo Israa'eloota biyya Yihuda'aa keessa le'anuu qofa irratti mootii te'e.

¹⁸ Achiin duuba Rehobiyaamiin mootichi, itti gaafatamaa namoota hunnaan hujii hunnaa hujanuu Adoraam gara Israa'elootaa erge; isaan ammoo dhaka'aan tumanee isa ijjeesane. Rehobiyaamiin mootichi ammoo ariiti'iin garreettaa ifii ka fardaan harkifamu irra tee'ee, gara Yersaaleemii duraa baqate.

¹⁹ Maarre kolbaan Israa'elii ta gara kaabaa, haga adhaa namoota sanyii Daawitii irratti finqila kaasanee hafane.

11

Raaga Shemaa'iyaa

(1 Mot. 12:21-24)

¹ Rehobiyaam gara Yersaaleemii yennaa dhufe, Israa'eloota lolanee gara mootummaa isaa akka deebisanuuf, gosa Yihuda'aatii fi gosa Beniyaaminii keessaa loltoota beekkamane kuma dhibba tokkoo fi kuma saddeettama wolitti qabate.

² Jechi Mootii Waan Maraa ammoo gara Shemaa'iyaa raagichaa dhufee,

³ «Mooticha Yihuda'aa ilma Solomoonii Rehobiyaamii fi kolbaa gosa Yihuda'aatii fi Beniyaaminii maraan,

⁴ «Mootiin Waan Maraa: wonni te'e kun fedhii tiyya waan teeteef, obboleeyyan teessan loliisaaf ol hin bayina'a. Tokko tokkoon keessan gara mana keessanii deema'a! jedha» jedhiin» jedhe. Maarre isaan jecha Mootii Waan Maraatiif ajajamanee, Yerobi'aamitti duuliisa lakkisanee deebia'ane galane.

Rehobiyaam Qachoota Dalleya Dhaka'aa qabanu Ijaare

⁵ Rehobiyaam Yersaaleem keessa tee'ee, diinota ifi irraa dhooggatiisaaf biyya Yihuda'aa keessatti qachoota dalleya dhaka'aa qabanu ijaarsise.

⁶ Qachooti inni ijaarsise sun Betlehem, Etaam, Tego'aa,

⁷ Bet-Zuur, Sokoo, Adulaam,

⁸ Gaat, Maresha, Ziif,

⁹ Adoraayim, Laakiishi, Azeqaa,

¹⁰ Zoraa, Ayalonii fi Kebroon. Qachooti dalleya dhaka'aa qabanu sun marti biyya Yihuda'aatii fi biyya Beniyaaminii keessatti ijaaramane.

¹¹ Rehobiyaam dalleya dhaka'aa itti ijaarsisee, ajajoota duulaa itti godhee, sagalee, Zayitii ejersaatii fi daadhii woyni'ii, achi keessatti tuulchise.

¹² Inni wonte'ee fi eboo hedduulle qachoota san keessatti tuulchisee, akka isaan guddoo jabaatanu godhe. Maarre inni akkanaa biyya Yihuda'aatii fi biyya Beniyaaminii toowannaa ifii jala galfate.

¹³ Hayyootii fi Lewwooti kutaa biyya Israa'elii ta kaabaa mara keessa jiranu gara Rehobiyaamii dhufane.

¹⁴ Lewwooti hayyoota te'ane Mootii Waan Maraa akka hin tajaajille, Yerobi'aamii fi ilmaan isaa waan isaan dhoogganeef, addee horii ifi itti tiffatanuu fi qabeenna ifii lakkisanee gara Yihuda'aatii fi gara Yersaaleemii dhufane.

¹⁵ Yerobi'aam fakkii waaqota dharaa ta korbeeyyii re'ootaatii fi jiboota jabbile'ee hujee, addee waaqonfanna'aa ta waaqota dharaa irra dhaabee, hayyoota ifi ta achi tajaajilanu filate.

¹⁶ Gosa Israa'elii mara keessaa worri gadhaa ifii tokkochaan Mootii Waan Maraa Waaqa abbootii ifii Israa'elii hordofuu barbaadu marti ciincaa ifii dhikeessiisaaf, Lewwoota hordofanee gara Yersaaleemii dhufane.

¹⁷ Isaan karaa Daawitii mootichaatii fi Solomoonii mootichaa hordofanee, woggaa sadiif mootummaa Yihuda'aa jabeessanee, ilma Solomoonii Rehobiyaam qarqaarane.

Maatii Rehobiyaamii

¹⁸ Rehobiyaamiin kun intala Yeremootii ilma Daawitii Mahalaat fuudhe; haati isi'ii Abiihaayil intala Eliiyaabii ilma Iseyii ti.

¹⁹ Isiin ilmaan sad Ye'ush, Shemaariya'aa fi Zahaam isaaf deette.

²⁰ Achiin duuba inni intala Abiishaalomii Ma'akaa fuudhe; isiin ilmaan afur Abiiyaa, Aataayi, Ziizaa fi Shelomiit isaaf deette.

²¹ Rehobiyaam niitolee ifitii fi gursumeeyyii ifii mara caalaa, intala Abiishaalomii Ma'akaa jaalate; inni wolumatti niitolee kudhanii saddeetii fi gursumeeyyii jaatama, ilmaan diddamii saddeeti, ijoollee durraa jaatama qabaayyu.

²² Inni ilma ifii Abiiyaa ka Ma'akaa irraa uumate mootii godhiisa waan fedheef, ijoollee ifii ta dhibii mara irratti soorressa akka te'u isa file.

²³ Rehobiyaam qarummaa ifitiin ilmaan ifii garii kutaa biyya Yihuda'aa, taan kutaa biyya Beniyaaminii keessaa fi qachaa dalleya dhaka'aatiin ijaarame keessa babadhatanee akka le'anu godhe; inni sagalee bacaa isaaniif kennee, niitolee hedduulle isaan fuusise.

12

Mootiin Gibxi'ii Shiishaaq Yersaalemitti Duule (1 Mot. 14:25-28)

¹ Rehobiyaam mootummaa ifii akkuma jabeeffateen, innii fi kolbaan Israa'elii* marti seera Mootii Waan Maraa lakkisane.

² Isaan Mootii Waan Maraatiif addatamuu waan dhabaneef, Rehobiyaam mootii te'ee woggaa shaneesso'ootitti, mootichi Gibxi'ii Shiishaaq Yersaalemitti duule.

³ Inni garreettaa fardaan harkifamu kuma tokkoo fi dhibba lama, abbootii fardaa kuma jaatama, loltoota worra Liibiya'aa, loltoota worra Sukiimiitii fi worra Itoophiya'aa† dabalatee, loltoota laakkossi isaanii hagana hin jedhanne fudhatee, biyya Gibxi'ii keessaa ka'ee dhufee,

⁴ qachoota Yihuda'aa ka dalleya dhaka'aa qabanu qabatee, haga Yersaaleemii dhufe.

⁵ Achiin duuba Shemaa'iyaan raagichi gara Rehobiyaamiitii fi gara sooreyyii biyya Yihuda'aa worra Shiishaaq duraa baqatee Yersaalemitti wolitti qabameeruu dhufee, «Mootiin Waan Maraa, «Isin waan na lakkittaneef, anille harka Shiishaaqiititti isin lakkiseera» jedha» jedheen.

⁶ Mootichii fi Sooreyyiin Israa'elii‡ gad ifi qabatee, «Wonni Mootiin Waan Maraa huju marti haqa» jedhane.

⁷ Mootiin Waan Maraa akka isaan gad ifi qabane yennaa dhagge, ammalle jecha ifii gara Shemaa'iya'aa ergee, «Isaan ana Mootii Waan Maraa duratti waan gad ifi qabaneef, ani dafee isaan hin baasa malee isaan hin balleessu. Aariin tiyya karaa Shiishaaqiitiin Yersaaleem irratti hin bobeettu.

* **12:1** Kolbaan Israa'elii tun: Kolbaa mootummaa kibbaa ta Yihudaa keessaa ti. † **12:3** Itoophiyaa: Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali. ‡ **12:6** Sooreyyiin Israa'elii: Sooreyyiin Israa'elii tun ta mootummaa kibbaa ta Yihudaa keessaa ti.

⁸ Te'uu malee, isaan ana tajaajiliisii fi mootota biyya lafaa tajaajiliis garaa-garummaa akka qabu akka beekanuuf, Shiishaaq isaan hin bulcha» jedhe.

⁹ Mootichi Gibxi'ii Shiishaaq Yerusaalem yennaa lole, qabeenna Galma Waaqaatii fi qabeenna mana mootumma'aa saame. Inni waan mara, wontee hedduu Solomoon worqi'iin hujisiiselle fudhate.

¹⁰ Maarre mootichi Rehobiyaam addee wontee fudhataneetitti sageet-tuu irraa wontee hujisiisee, harka qondaaltota eeddota karra mana mootumma'aatitti kenne.

¹¹ Mootichi gara Galma Waaqaa yennaa dhaqu mara, eeddota karra mana mootumma'aa wontee san qabatanee, isa woliin dhaqan; yennaa deebi'anuu ammoo kolloo eeddoota keessa keyan.

¹² Rehobiyaam Mootii Waan Maraatiif waan ifi gad qabeef, aariin Mootii Waan Maraa ijumaa isa hin balleessine. Biyya Yihuda'aa keessatti wonni dansaan teete.

¹³ Rehobiyaam Yerusaalem keessa mootii jabaa ifi tolfate. Inni yennaa mootii te'e nama woggaa afurtamii tokkoo ti; inni Yerusaalem keessatti woggaa kudhanii torba mootii te'e. Yerusaalem qachoota Mootiin Waan Maraa qachoota lafa gosoota Israa'elii mara keessaa addee inni akka itti waaqonfamuuf filate. Maqaan haadha Rehobiyaamii Na'aama'a; isiin intala nama biyya Amoonii ti.

¹⁴ Inni fedhii Mootii Waan Maraa waan hin barbaadiniif, waan hantuu huje.

¹⁵ Wonni Rehobiyaamiin mootichi bara mootummaa ifi keessa huje jalqabaa haga dhumaatitti, kitaaba dabarsii hidda dhalootaa ka She-maa'iyaa raagichaatii fi kitaaba dabarsi'ii ka Iddoo mudhii dhagguu keessatti galmeeffamee jiraa motii ree? Rehobiyaamii fi Yerobi'aam bara jiruu ifi mara wol lolane.

¹⁶ Rehobiyaam du'ee, addee awwaala moototaatitti qachaa Daawitii keessatti awwaalame; ilmi isaa Abiiyaan addee isaatitti mootii te'e.

13

Abiiyaan Mootii Yihuda'aa Te'e (1 Mot. 15:1-8)

¹ Yerobi'aam Israa'el irratti mootii te'ee woggaa kudhanii sad-deetesso'ootitti, Abiiyaan biyya Yihuda'aa irratti mootii te'e.

² Inni Yerusaalem keessa tee'ee, woggaa sad bulche; maqaan haadha isaa Ma'aka'a; isiin intala Urii'elii nama qachaa Giibe'aa ti. Abiiya'aa fi Yerobi'aam wodhakka'atti lolli ka'eeraayyu.

³ Abiiyaan loltoota jajjaboo kuma dhibba afur filatee duule. Yerobi'aamille loltoota janna kuma dhibba saddeet filatee duule.

⁴ Achiin duuba Abiiyaan biyya koobittii Efreemii keessa gaara Zamaraayimii irra dhaabatee, «Ee Yerobi'aam, isin kolbaan Israa'elii martinuu na dhage'a!»

⁵ Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, Gondooroo sooddaa ta haga bara baraatiin, Daawitiif, sanyii isaatiifille, Israa'el irratti mootummaa akka kenne hin beettanuu ree?

⁶ Ilmi Nebaatii Yerobi'aam, tajaajilaan Solomoonii ilmi Daawitii, gootaa ifi irratti fiqila kaase.

⁷ Ilmi Solomoonii Rehobiyaam adoo inni daa'imaatuu, yennaa inni womaa godhiisa hin dandeennetti, namooti siyyaayye'ee fi boru-hinbeenneen isa marsanee mormane; ittille jabaatane.

⁸ Isin amma mootummaa Mootii Waan Maraa ta harka sanyii Daawitii keessa jirtuun mormiisaaf baatanee; dhuguma isin bindilla'a; fakkii waaqota dharaa jabbilee worqi'ii ta Yerobi'aamiin mootichi isiniif hujisiiselle ifi biraa qaddan.

⁹ Isin tana maleelle ilmaan Aaronii hayyoota Mootii Waan Maraatiif fi Lewwoota ariitane, addee isaaniititti akkuma kolbaa lafa dhibi'ii, hayyoota ifiif godhattaneertanii motii ree? Nami hayyuu te'iisaaf jibicha tokkoo fi korbeeyyii hoole'ee torba fidee dhufu, waaqota dharaatiif hayyuu te'a.

¹⁰ «Nu'uuf ammoo Mootiin Waan Mara Waaqa keenna; nuuti isa hin lakkinne. Hayyooti Mootii Waan Maraa tajaajilanu sanyii Aaronii ti; Lewwooti isaan qarqaaran.

¹¹ Isaan ganamaa fi galgala kennansa gubamuu fi hixaana fooleen isaa uddowu Mootii Waan Maraatiif dhikeessan; daabboo Waaqaaf kennantu xarapheessaa akka aadaa dhugeeffanna'aatitti qulqulluu te'e san irra keyan; galgala galgalalle issaa waan issaa irra keyamu ka worqii irraa hujame irra jirulle hin qassiisan. Nuuti ajaja Mootii Waan Maraa ka Waaqa keennaa hin eeganna; isin ammoo isa lakkittaneertan.

¹² Kunoo, Mootiin Waan Maraa nu woliin jira; inni nu sooreessa; hayyooti isaa tultullaa afuufanee lola isinitti hin kaasan. Ee ilmaan Israa'elii, injifatuu waan hin dandeenneef, Mootii Waan Maraa Waaqa abbootii teessanii hin lolina'a» jedhe.

¹³ Yennuma san Yerobi'aam loltoota ifii keessaa gariin loltoota worra Yihuda'aatiin duubbatti akka riphanuuf erge; loltooti hafane ammoo isa woliin loltoota Yihuda'aatiin wolitti fulla'anee akka lolanu godhe.

¹⁴ Worri Yihuda'aa garagalee adaala ifii yennaa ilaalanu, duraa fi duubaan akka marfamaneeranu dhaggane. Achiin duuba akka isaan qarqaaruuf gara Mootii Waan Maraa iyyane. Hayyooti tultullaa afuufane.

¹⁵ Namooti Yihuda'aalle qoonqoo ol qabatane iyyane; yennaa isaan iyyane Mootiin Waan Maraa Abiiya'aa fi namoota Yihuda'aa duratti, Yerobi'aamii fi Israa'eloota mara injifate.

¹⁶ Waaqi harka worra Yihuda'aatitti Israa'eloota dabarsee waan kenneef, isaan Yihudoota duraa baqatane.

¹⁷ Abiiya'aa fi loltooti isaa lolanee akka malee waan miidhaneef, loltoota Israa'elii keessaa loltoota jajjaba kuma dhibba shan fixane.

¹⁸ Namooti Israa'elii yennaa san guddoo qaanowane; namooti Yihuda'aa ammoo Mootii Waan Maraa Waaqa abbootii ifii ta durii waan addataneef injifatane.

¹⁹ Abiiyaan Yerobi'aam ari'ee qachoota Bet'el, Yeshaana'aa fi Efron, olloota qachoota san cinaa jiranu woliin isa irraa fudhate.

²⁰ Bara Abiiya'aa keessa Yerobi'aam deebi'ee hunna bulchiisaa hin dhag-ganne. Dhuma irratti Mootiin Waan Maraa balaa itti buusee, inni du'e.

²¹ Abiiyaan ammoo irra caala hunna dhaggataa ideeme; inni niitolee kudhanii afur fuudhee, ilmaan diddamii lamaa fi ijoollee durraa kudhanii jaa uumate.

²² Wonni dhibiin ta Abiiyaan bara mootummaa ifii hujee fi wonni inni jedhe marti, kitaaba dabarsi'ii ka Iddoo raagichaa keessatti barreeffanteerti.

14

Mootii Yihuda'aa Aasaa

¹ Abiiyaan mootichi du'ee, qachaa Daawitii keessatti awwaalame. Ilmi isaa Aasaan addee isaatitti mootii te'e; bara mootummaa isaa biyyi woggaa kudhan nageya dhaggatte.

² Aasaan waan dansa'aa fi sirrii te'e fuula Mootii Waan Maraa Waaqa ifii duratti huje.

³ Inni addee ciinca'aatii fi addee waaqonfanna'aa ta waaqota ormaa diigee, soodduu akka woyyu'uutitti ilaalanu butuchee, utuboota waaqa dharaa ta, «Asheeraa» jedhantuu jijjisse.

⁴ Namooti Yihuda'aa Mootii Waan Maraa Waaqa abbootii ifii ta durii akka barbaadanu, seeraa fi ajaja isaalle akka eegatanu ajaje.

⁵ Inni ammalle addee waaqonfanna'aa ta waaqota dharaatii fi addee ciinca'aa ta waaqota dharaatiif hixaana irratti aarsanu ta qachoota Yihuda'aa mara keessaa balleesse. Bara bulchiisa isaa mootummaan nageya dhaggatte.

⁶ Biyyi nageya waan qabaatteef, inni biyya Yihuda'aa keessatti qachoota dalleya dhaka'aa qabanu ijaare. Mootiin Waan Maraa foora waan isaa kenneef, bara san keessa woraanni isatti hin kaane.

⁷ Inni namoota Yihuda'aatiin, «Biyyi tun harka keenna jala waan jirtuuf, kowa'a, qachoota kana ijaarree, dalleya xelleephoo qabu itti naannessinee, karra itti baafannee, danqaraa itti goona. Nuuti Mootii Waan Maraa Waaqa keenna waan barbaanneef, inni karaa maraan foora nuu kenneera» jedhe. Maarre isaan ijaarane; isaaniif milkootte.

⁸ Aasaan mootichi, Yihudaa keessaa loltoota kuma dhibba sad ta wontee gugurdo'oo fi eboo qabanu, gosa Beniyaamin keessalle'ee loltoota kuma dhibba lamaa fi kuma saddeettama ta wontee didiqqo'oo fi daaya qabanu qabaayyu. Loltooti sun marti loltoota jajjaba dandeettii qabanu.

⁹ Nami biyya Itoophiya'aa* Zeraan loltoota miliyoona tokkoo fi garreettaa fardaan harkifamu dhibba sadiin isaanitti duuliisaaf bayee haga Mareshaa dhufe.

¹⁰ Aasaan isa loliisaaf gad baye; isaan dhooqa Zefaata'aa ta Maresha'atti dhikoo jirtu keessatti wol loliisaaf addee qabatane.

¹¹ Achiin duuba Aasaan Mootii Waan Maraa Waaqa ifii waammatee, «Ee Mootii Waan Maraa, ka akka keeti worra dadhabaa qarqaaree, worra hunnaameyyii jalaa baasuu dande'u hin jiru. Ee Mootii Waan Maraa Waaqa keenna, nuuti si addannee maqaa keetiin loltoota bindillaa tana loliisaaf baaneerraa, ati nu qarqaar. Ee Mootii Waan Maraa, ati Waaqa keenna; nami tokkolle si hin injifatin» jedhe.

¹² Maarre Mootiin Waan Maraa fuula Aasaa mootichaatii fi worra Yihuda'aa duraa worri Itoophiya'aa† akka injifatamanu godhe; isaanille baqatane.

¹³ Aasa'aa fi loltooti isaa haga Geraariititti isaan ari'ane; gaafas loltoota Itoophiya'aa‡ keessaa hedduun waan dhumataneef, worri hafe jabaatiisa hin dandeenne; isaan Mootii Waan Maraatii fi loltoota isaa duratti waan bututaneef, loltooti Yihuda'aa boojuu bacaa dhaggatane.

¹⁴ Mootiin Waan Maraa namoota qachoota adaala Geraarii jiranu mara waan bararasseeff, loltooti Yihuda'aa qachoota adaala sanii mara injifatane. Isaan qachoota san mara saamanee, boojuu bacaa guuratane.

¹⁵ Isaan moonaa hori'ii diigane hoolee, re'ootaa fi gaala hedduu booji'ane, gara Yerusaalemii deebi'ane.

* **14:9** *Itoophiyaa*: Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali. † **14:12** *Itoophiyaa*: Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali. ‡ **14:13** *Itoophiyaa*: Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali.

15

Haareffama Aasaan Godhe

¹ Ayyaanni Waaqaa ilma Odeedii Azaariyaa irratti dhufe.

² Azaariyaan gara Aasaa mootichaa dhaqee, «Aasaa, isinille namooti Yihuda'aatii fi namooti Beniyaaminii marti na dhage'a'a! Yoo isin Mootii Waan Maraa woliin jiraattane, innille isin woliin hin jiraata. Yoo isa barbaaddane, innille isiniif hin dhaggama; yoo isa lakkittane ammoo, innille isin hin lakkisa.

³ Israa'elooti bara hedduu Waaqa dhuga'aa malee, hayyuu isaan barsiisu malee, seera malee le'ane.

⁴ Isaan yennaa rakkatane gara Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii deebi'anee, isa barbaadane; innille isaaniif dhaggame.

⁵ Bara san worri biyya lafaa irra le'u marti raafama guddaa keessa waan jiruuf, nami nageyaan bayee, nageyaan galulle hin jiruuyyu.

⁶ Waaqi badii gara garaatiin waan isaan rakkiseef, gosi biyya takkaa gosa biyya taanii balleessitee, qachaan tokko qachaa kaan balleesse.

⁷ Isin ammoo gatii eloo teessanii waan dhaggattanuuf, jajjabaadha'a, hin dadhabina'a» jedhe.

⁸ Aasaan raaga ilmi Odeedii Azaariyaan raage akkuma dhage'een jajjabaate; inni waaqota dharaa diqachiisaa lafa Yihuda'aa maraa fi lafa Beniyaaminii mara keessaa, qachoota biyya koobitti'ii ta Efreem qabate keessaalle'ee balleesse; addee ciinca'aa ta soroo Galma Mootii Waan Maraa dura jirtulle haaresse.

⁹ Mootiin Waan Maraa Waaqi Aasaa woliin akka jiru dhageettee, kolbaan bindillaan lafa Israa'elii mara keessaa gara isaa waan hiixxeef, inni namoota Yihuda'aa, namoota biyya Beniyaaminii, ka biyya Efreemiitii fi biyya Mi-naase'ee, ka kutaa biyya Shimi'oon keessaa dhufane mara wolitti qabe.

¹⁰ Isaan, Aasaan mootii te'ee woggaa kudhanii shaneesso'ootitti, woggaa san ji'a sadeesso'oo keessa Yerusaleemitti wolitti qabamane.

¹¹ Boojuu guyyaa san fidane keessaa loon dhibba torba, hoolee kuma torba Mootii Waan Maraatiif ciincaa dhikeessane.

¹² Isaan gadhaa tokkochaaf fi qalbii takkatti'iin, Mootii Waan Maraa Waaqa abbootii ifii barbaadatiisaaf Gondoosoo godhane,

¹³ isaan keessaa nami diqqaan yookiin guddaan, dhiirti yookiin dubartiin ka Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii hin waaqonfanne akka ijjeefamu godhane.

¹⁴ Isaan tultulla'aa fi tultullaa gaafa hoole'ee afuufanee, qoonqoo ifii ol qabatane ililleetti'iin Mootii Waan Maraatiif kakuu kakatane.

¹⁵ Namooti biyya Yihuda'aa marti gadhaa tokkochaan waan kakataneef, marroo kakuu saniitiif gammadaan firinxiixane. Isaan qalbii takkatti'iin Waaqa waan barbaadaneef, inni dhaggameef; karaa maralle'een isaan foorfachiise.

¹⁶ Aasaan mootichi akkoon isaa Ma'akaan, fakkii waaqa dharaa ta «Asheeraa» jedhantu, diqachiittuu waan hujjeef, inni giittummaa irraa isii buuse; fakkii isiin hujjelle caccassee, dhooqa Qedrooniititti gube.

¹⁷ Aasaan addee waaqonfanna'aa ta Israa'el keessaa duudi'iiyyuu diiguu dhabulle, bara jiruu ifii mara Mootii Waan Maraatiif ifi kenne.

¹⁸ Inni meya adda addaa, meeti'ii fi worqii ka abbaan isaatii fi inninuu Waaqaaf adda baasane fidee, Galma Waaqaa keessa keye.

¹⁹ Aasaan mootii te'ee haga woggaa soddonii shaneesso'ootitti lolli dhibiin hin kaane.

16

Bulchiinsa Aasaa mootichaa Ka Woggoota Gara Muumme'ee (1 Mot. 15:17-22)

¹ Aasaan mootii te'ee woggaa soddonii jayeesso'ootitti, mootiin Israa'elii Baashaan Yihuda'atti duule; karaa saniin nami gara biyya Yihuda'aa akka hin seenne, achi keessalle'ee akka hin baane qachaa Raama'aatitti dalleya dhaka'aa ijaaruu jalqabe.

² Achiin duuba Aasaan addee qabeenni Galma Waaqaatii fi qabeenni mana mootumma'aa ka isaa jiru keessaa meeti'ii fi worqii fuudhee, mooticha Sooriya'aa Ben-Hadaad ka Damaasqoo keessa tee'ee bulchuuf ergee,

³ «Akkuma abbaa keetii fi abbaa kiyaa wodhakkaa Gondooroon jirtu, anaa fi si wodhakkaalle Gondooroon jiraattuu ti. Kunoo, ani meeti'ii fi worqii sii ergeera. Akka inni na irraa deebi'uuf Gondooroo mooticha Israa'elii Baashaan waliin qaddu san diigi» jedhe.

⁴ Ben-Hadaadille Aasaa mootichaaf tole jedhee, ajajjoota loltoota ifii gara qachoota Israa'elii erge; isaan Iyoon, Daan, Abeel-Maayimii fi qachoota mey itti kuufamu ka biyya Niftaalemii keessaa mara qabatane.

⁵ Baashaan tana yennaa dhage'e, dalleya dhaka'aa ka qachaa Raama'atitti ijaaruu jalqabe san lakkisee, hujii ifii dhaabbachiise.

⁶ Achiin duuba Aasaan mootichi namoota Yihuda'aa mara fidee, dhaka'aa fi muka Baashaan ittiin dalleya dhaka'aa ka Raama'atti ijaaruu jalqabe san fudhatee, dalleya dhaka'aa Geba'aa fi Miispha'atti ijaare.

Haanaanii Mudhii Dhaggu

⁷ Yennaa Haanaaniin mudhii dhaggu gara Aasaa mooticha Yihuda'aa dhufee, «Ati mootii Sooriya'aatitti ciqilfattee, Mootii Waan Maraa Waaqa keetitti ciqilfatuun waan dhaddeef, loltooti Israa'elii si jalaa miliqaneeran.

⁸ Loltooti Itoophiya'aatii* fi loltooti Liibiya'aa loltoota bindillaa hunnaameyyii garreettaa fardaan harkifamu heddu'uu fi abbootii fardaa heddu'uun lolanuu motiiyyuu? Te'uu malee, ati Mootii Waan Maraatitti waan ciqilfatteef, inni harka keetitti dabarsee isaan kenne.

⁹ Worra gadhaa tokkochaan isatti ciqilfatuuf, qarqaarsa jabaa kenniisaaf, ilti Mootii Waan Maraa biyya lafaa duudii hin ilaalti. Ati waan kana gowwumma'aan hujje; tanaaf hagaraa achi woraanni sitti hin ka'a» jedhe.

¹⁰ Wonni kun Aasaa waan aarsiteef, inni ka mudhii dhaggu san mana hidha'aatitti galchee, miila isaa jirma lama oddu'utti hiisise; bara san Aasaan akkasuma kolbaa ifii keessalle'ee namoota tokko tokko farrisiise.

Muummee Bulchiinsa Aasa'aa

¹¹ Wonni Aasaan bara bulchiinsa ifii huje, jalqabaa haga muumme'eetitti kitaaba dabarsii mootota Yihuda'aatii fi mootota Israa'elii keessatti barreeffanteerti.

¹² Aasaan mootii te'ee woggaa soddonii sagaleesso'ootitti dhukkuba miilaatiin qabame; dhukkubi sun ittuma jabaataa deemulle, inni cidheeyyii qofa barbaadate malee, qarqaarsa Mootii Waan Maraa hin barbaanne.

¹³ Achiin duuba Aasaan motii te'ee woggaa afurtamii tokkeesso'ootitti du'e.

¹⁴ Isaan addee awwaalaa ta inni ifiif qachaa Daawitii keessatti qopheeffate keessatti isa awwaalane. Isaan taqee uddowaa adda addaatiif fi fiqire'een uddeeffante irra isa irkisane. Isaan ulfinna isaatiif ibidda guddaa goolane.

* 16:8 Itoophiyaa: Afaan Ibrootaatiin Kuushi jedha.

17

Yoshaafaax Mootii Yihuda'aa Te'e

¹ Ilmi isaa Yoshaafaax addee Aasaa abbaa ifiititti mootii te'ee, Israa'el loliisaaf ifi jabeeffate.

² Inni qachaa biyya Yihuda'aa ka dalleya dhaka'aa qabu mara keessa loltoota keye. Lafa Yihuda'aa keessa qachaa Efreemii ka abbaan isaa Aasaan qabate mara keessalle waardiyoona ifii keye.

³ Yoshaafaax akkuma abbaan abbootii isaa ta durii Daawiti jalqaba mootummaa ifiititti deddeebi'e waan deddeebi'eef, Mootiin Waan Maraa isa woliin jiraate; inni Ba'aal hin barbaanne.

⁴ Inni Waaqa abbaa ifii barbaadatee, ajaja isaa hordofe malee, akka mootota Israa'elii ta isaan qaraa hin deddeebine.

⁵ Tanaaf Mootiin Waan Maraa mootummaa Yoshaafaaxii ta Yihuda'aa harka isaatiitti jabeesse. Namooti Yihuda'aa marti kennansa adda addaa isaaf fidanee, inni durumma'aa fi ulfinna guddaa dhaggate.

⁶ Gadhaan isaa Mootii Waan Maraatiif ajajamiisaaf jajjabaatee, addee waaqonfanna'aa ta waaqota dharaatii fi utuboota waaqa dharaa ta, «Asheeraa» jedhantuu biyya Yihuda'aa keessaa balleesse.

⁷ Yoshaafaax mootii te'ee woggaa sadeesso'ootitti qachoota biyya Yihuda'aa keessatti akka barsiisanuuf qondaaltota ifii keessaa Ben-Haayil, Obaadiyaa, Zakaariyaas, Naataani'elii fi Miikiyaas erge.

⁸ Isaan Woliin Lewwoota keessaa: Shemaa'iyaa, Netaaniyaa, Zebaadiyaa, Asaa'el, Shemiiraamoot, Yonaataan, Adoniyaa, Tobiiya'aa fi Tob-Adoniyaa, hayyoota keessaalle'ee Elshaama'aa fi Yehoraam erge.

⁹ Isaan Kitaaba Seera Mootii Waan Maraa fuudhanee dhaqanee, qachoota Yihuda'aa keessatti kolbaa barsiisane. Isaan qachoota Yihuda'aa mara keessa deemanee odduu kolba'aatitti barsiisane.

¹⁰ Gosi biyya adda addaa ta adaala biyya Yihuda'aa jirtu Mootii Waan Maraa waan sodaatteef, Yoshaafaax irratti lola kaasuu hin barbaanne.

¹¹ Worri Filisxeemotaa gariin Yoshaafaaxii mootichaaf kennansa hedduu fidanee, meetiille gabbarane; worri Arabaalle korbeeyyii hoole'ee kuma torbaa fi dhibba torba, korbeeyyii re'e'ee kuma torbaa fi dhibba torba fidanee isaaf kennane.

¹² Yoshaafaax ittuma guddataa, jabaataalle ideeme. Inni biyya Yihuda'aa keessatti qachoota dalleya dhaka'aa qabanuu fi qachaa gootaraa midhaaniitii fi meya adda addaa itti galchanu ijaare.

¹³ Inni qachaa biyya Yihuda'aa keessatti sagalee bacaa tuulchisiise; loltoota jajjaboolle qachaa Yerusaalemii keessa keye.

¹⁴ Laakkossi isaanii akka maatii maatii isaaniititti asii gad jiran: Yihudaa keessaa ajajaan kumaa Adina'a; inni loltoota jajjaba kuma dhibba sad ka ajaju.

¹⁵ Isatti aanee Yohaannaan ajajaan loltootaa, loltoota kuma dhibba lamaa fi kuma saddeettama ka ajaju.

¹⁶ Isatti aanee ajajaan loltootaa Amaasiyaan ilmi Ziikrii, ka Mootii Waan Maraatiif tajaajiliisaaf fedha qabu, loltoota jajjaba kuma dhibba lama ka ajaju.

¹⁷ Gosa Beniyaaminii keessaa Eliyaadaan, loltichi janni loltoota kuma dhibba lama worra guube'ee fi wonteen lolu ka ajaju.

¹⁸ Isatti aanee Yehozaabaad loltoota kuma dhibba tokkoo fi kuma saddeettama lolaaf qophowane ka ajaju.

¹⁹ Isaan kun worra mootichi biyya Yihuda'aa keessaa qachoota dalleya dhaka'aa qabanu mara akka eeganuuf keessa keye adoo hin dabalatin worra qofitti isa tajaajilane.

18

Miikiyaasiin Raagichi Ahaab Ifi Eeggachiise (1 Mot. 22:1-28)

¹ Yoshaafaaxiin mootichi guddoo duroomee, ulfinna guddaalle yennaa dhaggate, fuudhaa fi heerumaan Ahaabii mooticha woliin firoome.

² Inni woggoota diqqo'oon duuba Ahaab dubbisu'uuf gara qachaa Samaariya'aatitti yennaa gad bu'e, Ahaab loon heddu'uu fi hoolee hedduu isaa fi namoota isaatiif qalchiisee, akka inni qachaa Raamoot-Giili'aadii loluuf dhugeeffachiise.

³ Mootichi Israa'elii Ahaab, «Ati na woliin Raamoot-Giili'aad loliisaaf hin dhaxxaa?» jedhee, mooticha Yihuda'aa Yoshaafaax gaafate; Yoshaafaax deebisee, «Ani akkuma keeti; kolbaan tiyyalle akkuma kolbaa teetii ti; nuuti si woliin dhandhee hin lolla» jedheen.

⁴ Yoshaafaaxille mooticha Israa'eliitiin, «Qara, waan Mootiin Waan Maraa jedhu gaafadhu» jedhe.

⁵ Achiin duuba mootichi Israa'elii Ahaab raagota dhibba afur wolitti qabee, «Raamoot-Giili'aad dhandhee lolla moo yookiin ani hafu woyya?» jedhee gaafate; isaan deebisane, «Mootiin Waan Maraa qachaa san harka keetitti dabarsee waan kennuuf, dhaqii loli» jedhane.

⁶ Yoshaafaax ammoo, «Isaan kana malee ka nuuti gaafannu raagaan Mootii Waan Maraa ka dhibiin as hin jiruu ree?» jedhe.

⁷ Mootichi Israa'eliille Yoshaafaaxiin, «Nami nuuti karaa isaatiin Mootii Waan Maraa gaafatuu dandeenu ka dhibiin tokkolle hin jira; garuu inni marroo tiyya yennaa mara ijjumaa waan hantuu malee, waan dansaa raaga waan hin dubbanneef, ani isa hin jibba; innille ilma Iimla'aa Miikiyaas» jedhee Yoshaafaaxiif deebise. Yoshaafaaxille, «Ee mooticha! Ati dubbii akkasii hin dubbatin!» jedhe.

⁸ Achiin duuba mootichi Israa'elii gondaaltota keessaa tokko waamee, «Dhaqiitii, ilma Iimla'aa Miikiyaas ariitii'ii fidi!» jedhee ajaje.

⁹ Mootiin Israa'elii Ahaabii fi mootiin Yihuda'aa Yoshaafaax woyaa mootumma'aa ta ifii uffatanee karra qachaa Samaariya'aa dura eeddummee keessa barcumaa mootumma'aa ta ifii irra tee'anee, raagoti martinuu isaan duratti raaga raagane.

¹⁰ Raagota san keessaa ilmi Kine'aanaa Zedeqiyaan sibiila akka gaafaa hujatee, Ahaabiin, «Mootiin Waan Maraa, «Worra Sooriya'aa haga lafa irraa balleessitutti, gaafota kanaan isaan hin woraanta» jedha» jedhe.

¹¹ Raagoti worri kuun martinuu raagane, «Raamoot-Giili'aaditti ol bayiitii loli! Hin injifatta. Mootiin Waan Maraa dabarsee harka keetitti kenna» jedhane raaga dubbatane.

¹² Namichi akka Miikiyaas waamuuf ergamee dhage sun, «Kunoo, raagoti martinuu afaan tokkochaan marroo mootichaa waan dansaa dubbataaneeran; maganne'e atille akkuma isaanii waan dansaa itti dubbadhu» jedheen.

¹³ Miikiyaas ammoo deebisee, «Dhugaa Mootii Waan Maraa ka jiraataa te'ee! Waanuma Waaqi kiyya natti dubbate qofa hin dubbadha» jedhe.

¹⁴ Raagichi gara mootichaa yennaa dhufe, mootichi, «Miikiyaas, Raamoot-Giili'aaditti hin duulla moo yookiin hin lakkinna?» jedhee gaafate;

raagichille deebisee, «Qachaan sun dabarfamee harka keetitti waan kenna-muuf, hin injifattaatii ol bayii loli» jedheen.

¹⁵ Mootichi ammoo isaan, «Waan dhugaa te'e malee, waan dhibii maqaa Mootii Waan Maraatiin akka natti hin dubbanneef, ani yennaa meeqa si kakachiisuu na barbaachisa ree?» jedheen.

¹⁶ Miikiyaasille deebisee, «Loltooti Israa'elii marti akka hoolota tissee hin qannee koobota irra bittinnootteertuun dhagge; Mootiin Waan Maraalle, «Isaan kun sooressitoota waan hin qanneef, nageyaan gara mana ifii deebi'anuutii gad lakkis» anaan jedheera» jedhe.

¹⁷ Mootiin Israa'elii Yoshaafaaxiin, «Namichi kun marroo tiyya waan hantuu malee, waan dansaa raaga akka hin dubbanne ani sitti hin hinnee ree?» jedhe.

¹⁸ Miikiyaasille itti dabalee, «Waan Mootiin Waan Maraa dubbatu dhage'i; ani Mootiin Waan Maraa barcumaa mootumma'aa ka ifii irra tee'eeruun, ergantooti isaa middaa fi bitaa isaa dhaabbateertuun dhagge.

¹⁹ Mootiin Waan Maraa, «Mootichi Israa'elii Ahaab dhagee Raamoot-Giili'aad akka loluuf, achitti akka ijjeefamuufille eentu isa gowwoonsa ree?» jedhe; tokko waan tokko kuun waan dhibii jedhe.

²⁰ Achiin duuba Ayyaanni tokko gara duraa dhufee, Mootii Waan Maraa dura dhaabbatee, «Ani isa hin gowwoonsa» jedhe; Mootiin Waan Maraa isaan, «Maaniin isa gowwoonsita?» jedhee gaafate.

²¹ Ayyaanni sun, «Ani dhagee ayyaana dharaan raagota Ahaabii mara raaga dharaa dubbachiisu hin te'a» jedhe. Mootiin Waan Maraalle, «Ee, sii hin milkoottii, dhaqiitii tolchi!» jedheen.

²² Tanaaf, kunoo, Mootiin Waan Maraa afaan raagota teeti tanaa keessa ayyaana dharaa keyeera. Marroo teeti balaa dubbateera» jedhe.

²³ Achiin duuba ilmi Kine'aana'aa Zedeqiyaan gara Miikiyaasii dhagee boqoo isaa keessa kabalee, «Ayyaanni Mootii Waan Maraa kun karaa kamiin na bira dabaree sitti dubbate?» jedhee isa gaafate.

²⁴ Miikiyaasille deebisee, «Kunoo, gaafa dhokatiisaaf kolloo gara keessaa seente hin dhaggita» jedheen.

²⁵ Mootiin Israa'elii Ahaab, «Miikiyaas qaba'aatii gara Amoonii bulchaa qacha'aatii fi gara Yo'aasii ilma mootichaa geessa'a!

²⁶ Isaaniin, «Mootichi: Nama kana hidha'a! Haga ani nageyaan deebi'utti sagale'ee fi bisaan malee, waan dhibii itti hin kennina'a jedheera» jedha'aan» jedhe.

²⁷ Miikiyaas deebisee, «Yoo ati nageyaan deebite, Mootiin Waan Maraa natti hin dubbanne» jedhe. Inni itti dabalee, «Kolbaan tun marti, dhage'a'a!» jedhe.

Injifatamiisaa Fi Du'iisa Ahaabii

(1 Mot. 22:29-35)

²⁸ Achiin duuba mootiin Israa'elii Ahaabii fi mootiin Yihuda'aa Yoshaafaax Raamoot-Giili'aaditti duulane.

²⁹ Mootiin Israa'elii Yoshaafaaxiin, «Eennulle akka na hin beenneef, woyaa dhibii uffadhee duula hin dhaqa; ati ammoo woyaa teeti ta mootumma'aa uffadhu» jedhe. Tanaaf mootichi Israa'elii Ahaab eennulle akka isa hin beenneef woyaa dhibii uffatee duule.

³⁰ Yennaa san mootiin Sooriya'aa ajajjoota loltootaa worra garreettaa fardaan harkifamuutiin, «Mootii Israa'elii qofa malee, nama tokkolle hin lolina'a!» jedhe.

³¹ Ajajjooti garreettaa fardaan harkifamanuu sun, akkuma Yoshaafaax dhaggiteen, «Kun mootii Israa'elii ti» jedhane. Maarre isaan isa loliisaaf itti garagalane. Yoshaafaaxille qoonqoo ol qabatee iyyee, Mootiin Waan Maraalle isa qarqaare; Waaqi jara san irraa deebise.

³² Ajajjooti garreettaa fardaan harkifamanuu sun akka inni mootii Israa'elii hin te'in yennaa dhaggane, isa ari'iisa lakkisane biraa deebi'ane.

³³ Isaan keessaa namichi tokko duuchi-balleessii daaya ifii darbatee, uffana sibiilaa ka mootichi Ahaab uffateeru wodhakka'aan woraane; mootichi Ahaab nama garreettaa fardaan harkifamu oofuun, «Ani waan madoweef, garreettaa fardaan harkifamu gara duuba deebisiitii addee lolaa tana keessaa na fuudhii deemi!» jedhee ajaje

³⁴ Gaafa san lolli o'ee, Ahaabiin mootichi gara worra Sooriya'aa fuula galee garreettaa ifii ka fardaan harkifamu keessa itti irkatee dhaabbate; inni galgaluma san du'e.

19

¹ Mootiin Yihuda'aa Yoshaafaax nageyaan gara mana mootummaa ifii Yersaalemitti deebi'e.

² Ilmi Haanaanii Yehuun ka mudhii dhaggu Yoshaafaax fudhatiisaaf gad bayee, Yoshaafaaxii mootichaan, «Ati maaniif nama hamaa qarqaarte? Maaniif nama Mootii Waan Maraa jibbu jaalatte? Sababa kanaaf mufiin Mootii Waan Maraa sitti hin dhutti.

³ Te'uu malee, ati utuboota waaqa dharaa ta «Asheeraa» jedhantuu waan balleessiteef, qalbii takkatti'iin Waaqa waan barbaaddeef, wonni dansaan si keessa hin jirti» jedheen.

Yoshaafaax Abbootii Mura'aa File

⁴ Yoshaafaax Yersaaleem keessa le'ee, Bersheeba'aa haga biyya koobittii Efreemii odduu kolba'aa bayee dhagee, yaada kolba'aa gara Mootii Waan Maraa Waaqa abbootii isaanii deebise.

⁵ Tana maleelle inni qachoota biyya Yihuda'aa ka dalleya dhaka'aa qabanu maraaf abbootii mura'aa filee,

⁶ abbootii mura'aa saniin, «Isin Mootii Waan Maraatiif malee, namaaf waan hin hunyeef, waan hujjanu hubadha'aatii huja'a. Mura kenniisa irratti inni isin woliin jira.

⁷ Ammalle Mootii Waan Maraa sodaatiis isin bira jiraattuu ti. Haqa balleessuun yookiin nama wol caalchisuun yookiin safuu fudhachuun Mootii Waan Maraa Waaqa keenna bira waan hin jirreef, waan hujjanu maraaf ifi eegadha'a» jedhe.

⁸ Yoshaafaax worra Lewwootaatii fi worra hayyootaa keessaa, sooreyyii maatii Israa'elii keessalle'ee nama garii maqaa Mootii Waan Maraatiin haajaa moroma'aa murteessiisaaf mura akka kennanu Yersaaleem keessalle'etti file. Isaan Yersaaleem keessa le'ane.

⁹ Inni qajeelfama isaanii kennee, «Isin Mootii Waan Maraa sodaatiisaan, addatamumma'aan, gadhaa tokkochaan hujadha'a.

¹⁰ Obboleeyyan teessan worra qachaa keessa le'u keessaa haajaa marroo dhiiga dhangalaasiisaa, marroo seera yookiin ajaja diigiisaa, marroo seerata yookiin qajeelfama diigiisaa yennaa isinitti dhikeeffatanu mara akka isaan Mootii Waan Maraa duratti hin yakine, isaan ifi eeggachiisa'a; yoo akkas hin te'in mufiin isinii fi obboleeyyan teessan irratti hin dhutti. Isin yoo tana gootane yakkaameyyii hin teetanu.

¹¹ Kunoo, waan Mootii Waan Maraa duudii ilaalchisee Amaariyaan hayyichi soorressi, waan mootichaa mara ilaalchisee ilmi Ishimaa'elii

Zabaadiyaan, sooressi gosa Yihuda'aa isin irratti abbootii mura'aa te'aneeran. Worri Lewwootaalle sooreyyii te'anee isin tajaajilan. Mootiin Waan Maraa worra waan dansaa hujatu woliin jiraatii, jajjabaadha'aatii huja'a» jedhe.

20

Yoshaafaax Diinota Ifi Injifate

¹ Tanaan duuba Mo'aabotii fi Amoonoti, isaan woliin worra Me'unootaa keessalle'ee gariin Yoshaafaax loliisaaf dhufane.

² Jarri takka gara Yoshaafaaxii dhufanee, «Loltooti guddoon bindillaan Edoom irraa, abbaaya'aan gamaa si loliisaaf dhufiisatti jiran; kunoo, isaan amma Haazezon-Taamaar ta «En-Gedii» jedhantu geyaneeran» jedhane.

³ Achiin duuba Yoshaafaaxiin mootichi sodaatee Mootii Waan Maraa barbaadatiisaaf murteeffatee, lafa Yihuda'aa mara keessatti akka laamanu ajaja baase.

⁴ Kolbaan Yihuda'aa Mootii Waan Maraa qarqaarsa gaafatiisaaf, qachoota lafa Yihuda'aa mara keessaa wolitti qabamane.

⁵ Yoshaafaax wol geyii kolbaa Yihuda'aa keessaa namoota Yerusaalemii odduu Galma Mootii Waan Maraa keessa badhinna dalleya keessaa haareya keessa dhaabbatee,

⁶ «Ee Mootii Waan Maraa, Waaqa abbootii teennaa, ati Waaqa ol-gubba'aatii motii ree? Ati mootummoota gosa biyya adda addaa mara bulchita. Hunnii fi jabeenni harka keeti keessa jiran. Ka si ifi irraa dhooggatuu dande'u hin jiru.

⁷ Ee Waaqa keenna, ati worra lafa tana keessa le'anuu kolbaa teeti Israa'el duraa ariitee baatee, sanyii jaala keeti Abrahaamiitiif haga bara baraa akka keessa le'annuuf hin kenninee ree?

⁸ Isaanille lafa san keessa le'anee achitti ulfinna maqaa keetiitiif Galma ijaarane,

⁹ «Balaan yookiin shallaagaan yookiin muraan yookiin dhukkubi yookiin beelli yoo nutti dhufanu, Galma keeti kana duratti fuula keeti dura dhaabbannee, maqaan keeti Galma kana keessa waan jiruuf, farra teenna iyyinee sitti himanna; atille hi dhageetta; farra san jalalle'ee nu hin baatta» jedhane.

¹⁰ Amma kunoo, worri Amooniitii fi Mo'aabii, worri gaara Se'iiriille, ka ati kolbaan Israa'elii biyya Gibxi'ii keessaa yennaa baatu lafa isaanii akka hin lolle dhoogginaan, loluu lakkisane irraa goranee dabarane amma dhufiisatti jiran.

¹¹ Kunoo, isaan lafa ati dhaala gootee nuu kennite keessaa nu ari'iisaan gatii nuu kenniisaaf dhufaneeran.

¹² Ee Waaqa keenna, ati isaanitti hin murtuu ree? Nuuti loltoota bacaa nu loliisaaf dhufiisatti jirtu tana loliisaaf hunna hin qannu. Waan goonulle hin beennu; ammoo ilti teenna gara keeti ilaalti» jedhe.

¹³ Yennaa san worri Yihuda'aa marti daa'immaan didiqqoo ifi, niitolee ifitii fi ijoollee ifi woliin fuula Mootii Waan Maraa dura dhaabbatane.

¹⁴ Gaafas Ayyaanni Mootii Waan Maraa wolde'a gumi'ii san oddu'utti sanyii Lewwi'ii keessaa ilma Zakaariyaasii Yahaazi'elitti dhufe; Zakaariyaas ilma Benaayaa ti; Benaayaan ilma Yaa'iilii ti; Yaa'iil ilma Mataaniyaa sanyii Asaafii ti.

¹⁵ Inni, «Isin worri Yihuda'aatii fi worri Yerusaalem keessa leetanu martinuu, atille Yoshaafaaxii mooticha caqasa'a! Mootiin Waan Maraa, «Lolli kun ka Waaqaa ti malee, keessanii motii, isin loltoota guddoo bindillaa tana dhaggitanee sodaattanee hin rifatina'a.

¹⁶ Boru gad bu'a'aatii isaan lola'a! Kunoo, isaan goodda Ziizii ol bayanee dhufan; dhuma dhooqa fuullee Yeru'elii lafa goomole'eetitti isaan hin dhag-gitan.

¹⁷ Isin lola kana keessa loluu hin barbaachisu. Addee qabadha'aa, jabaadha'aa dhaabbadha'aatii, baasiisa Mootiin Waan Maraa akka isin baasu ilaala'a! Isin ee worra Yihuda'aatii fi worra Yersaaleemii! Hin sodaatina'a, hin rifatinaalle'e! Mootiin Waan Maraa isin woliin waan jiruuf, boru baya'aa deema'aatii isaan lola'a» jedha» jedhe.

¹⁸ Achiin duuba Yoshaafaax adda ifitiin lafatti gad gombifamee, worri Yihuda'aa ka Yersaaleem keessa le'anuu marti Mootii Waan Maraa duratti gad jigane waaqonfatane.

¹⁹ Lewwooti worri sanyii Qehaatotaatii fi sanyii Qoraahotaalle ka'ane qoonqoo ol qabatanee Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii leellifatane.

²⁰ Barii ganama gara goomolee Teqo'a'aa dhaqiisaaf yennaa isaan ka'ane, Yoshaafaax ka'ee dhaabbatee, «Isin worri Yihuda'aatii fi worri Yersaaleem keessa leetanuu na dhage'a'a! Isin hin milkoottanii, Mootii Waan Maraa Waaqa keessan dhugeeffadha'a! Waan raagoti isaa dubbatanulle dhugeeffadha'a!» jedhe.

²¹ Inni kolbaa woliin mari'atee faarfattoota loltoota dura deemaa, «Mootii Waan Maraa galateessa'a; jaalalli isaa ka bara baraa ti» jedhaa faarfataa woyyummaa Mootii Waan Maraa leellisani filee dhaabe.

²² Yennaa isaan faarfataa leellisiisa jalqabane, Mootiin Waan Maraa worra Yihudaa loliisa dhufane worra Amoonii, worra Mo'aabiitii fi worra gaara Se'iiriititti riphee lolu itti fidee akka isaan injifatamanu godhe.

²³ Worri Amooniitii fi worri Mo'aabii worra gaara Se'iiriitii dhufe lolanee fixane; isaan worra gaara Se'iirii balleessaneen duuba wolittuu garagalanee wol balleessane.

²⁴ Worri Yihudootaa addee irra dhaabbatanee lafa goomole'ee gad dhag-ganu geyanee, loltoota guddoo bindillaa san yennaa ilaalanu reeffa qofa lafatti dhaggane; loltoota san keessaa nami miliqee hafe tokkolle hin jiru.

²⁵ Yoshaafaaxii fi kolbaan isaa boojuu guuratiisaaf yennaa dhufane, odduu reeffa isaaniitii meya adda addaa, woya'aa fi meya gatii guddoo'oo bacaa dhagganee, haga ba'atuu dadhabanutti guuratane; meyy sun bacaa waan te'eef, isaan meya san mara wolitti qabatiisaaf guyyaa sad irraa fudhate.

²⁶ Guyyaa arfeesso'oo dhooqa eebbaa, addee Mootii Waan Maraa itti leellifatanetti wolitti qabamane. Tanaaf maqaan addee sanii haga adhaa, «Dhooqa eebbaa» jedhama.

²⁷ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa akka isaan diinota ifii irratti firinxiixanu waan godheef, worri Yihuda'aatii fi Yersaaleemii martinuu Yoshaafaax ifi dura aanfatane gammada gudda'an gara Yersaaleemii deebi'ane.

²⁸ Isaan maseengo'oo fi kiraaraa guddicha dhowaa, tultullaalle afuufaa gara Galma Mootii Waan Maraa Yersaaleem dhufane.

²⁹ Mootiin Waan Maraa diinota Israa'elii akka lole yennaa dhage'ane, mootummooti biyya lafaa marti Waaqa sodaatane.

³⁰ Karaa maraan Waaqi nageya waan isaaf kenneef, mootummaan Yoshaafaaxii gabbi jette.

³¹ Yoshaafaax mootii biyya Yihuda'aa yennaa te'e nama woggaa soddonii shanii ti; inni Yersaaleem keessa tee'ee woggaa diddamii shan bulche; maqaan haadha isaa «Azubaa» jedhama; isiin intala Shiilhi ti.

³² Inni akkuma abbaa ifii Aasa'aa waan fuula Mootii Waan Maraa duratti sirrii te'e huje malee, karaa abbaa ifii irraa hin gorre.

³³ Te'uu malee, addeen waaqonfanna'aa ta waaqota dharaa hin banne; kolbaan sun ammalle gadhaa tokkochaan gara Waaqa abbootii ifii hin deebine.

³⁴ Wonni Yoshaafaax bara mootummaa ifii keessa jalqabaa kaasee haga dhumaatitti huje keessaa gariin, kitaaba Yehuu ilma Haanaanii ka inni marroo dabarsii mootota Israa'elii barreesse keessatti barreeffamaneeran.

³⁵ Muummee irratti mootiin Yihuda'aa Yoshaafaax mootii Israa'elii Ahaaziyaa ka waan hantuu hedduu huje san woliin wolii galtee godhate.

³⁶ Isaan hoboloota gugurdoo ittiin biyya Tarshiishii daldalatanu hujjisaaf wolii galanee, qachaa Eziyo-Geberii keessatti hoboloota san hujane.

³⁷ Achiin duuba ilmi Dodaawaa Elii'ezer nami qachaa Maaresha, «Ati Ahaaziyaa woliin waan wolii galteef, Mootiin Waan Maraa waan ati hujje kana hin balleessa» jedhee Yoshaafaax irratti raaga dubbate. Hobolooti sunille caccabane, gara biyya Tarshiishii dhaquu dadhabane.

21

Yohoraam Mootii Yihuda'aa Te'e (1 Mot. 8:6-24)

¹ Yoshaafaax du'ee qachaa Daawitii keessatti abbootii ifii ta durii biratti awwaalame; ilmi isaa Yohoraam addee isaatitti mootii te'e.

² Obboleeyyan Yohoraamii Azaariyaa, Yehii'el, Zakaariyaas, Azariyaahuu, Mikaa'elii fi Shefaaxiya'a; isaan kun marti ilmaan Yoshaafaaxii mootii Israa'elii* ti.

³ Abbaan isaanii tokko tokkoo isaaniitiif kennansa bacaa worqii, meetii, meya gatii guddo'ootii fi qachoota Yihuda'aa keessaa ka dalleya dhaka'aa qabulle isaaniif kenne; Yohoraam angafa waan te'eef ammoo mootummaa isaaf kenne.

⁴ Yohoraam mootummaa abbaa ifii qabatee yennaa jabaate, obboleeyyan ifii mara akkasuma qondaaltota Israa'elii keessaa garii shallaaga'aan ijjeese.

⁵ Yohoraam yennaa mootii te'e nama woggaa soddonii lamaa ti; inni Yersaaleem keessa tee'ee woggaa saddeeti bulche.

⁶ Inni intala Ahaabii waan fuudheef, akkuma sanyiin Ahaabii goote, karaa mootota Israa'elii hordofee, Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu huje.

⁷ Te'uu malee, Mootiin Waan Maraa Daawiti woliin gondoosoo gondoosate, isaa fi sanyii isaatiif haga bara baraa ka issu kenniisaaf waadaa waan galeeruuf, Yohoraam balleessuu hin barbaanne.

⁸ Bara mootummaa Yohoraamii Edoom Yihudaa irratti kaatee, mootummaa ifii dhaabatte.

⁹ Achiin duuba Yohoraam ajajjoota ifiitii fi garreettaa fardaan harkifamu ka ifii mara fudhatee duulee, adoo worri Edoomii isaa fi ajajjoota isaa ta garreettaa fardaan harkifamu marsaneeranuu, inni halkaniin ka'ee lolee isaan injifate.

¹⁰ Edoom haga adhaatitti bulchiinsa Yihuda'aa finqilteerti; Yohoraam Mootii Waan Maraa Waaqa abbootii ifii ta durii waan lakkiseef, Yennuma san Liibnaalle bulchiinsa Yihuda'aa finqilte.

¹¹ Inni koobota Yihuda'aa irratti addee waaqonfanna'aa ta waaqota dharaa ijaaree, kolbaan Yersaaleemii Mootii Waan Maraatiif akka hin addatanne godhee, worra Yihuda'aa dokonkorse.

¹² Eliyaasiin raagichi xalayaa gara Yohoraamii mootichaa ergee, «Mootiin Waan Maraa Waaqi Daawitii abbaa abbootii teeti ta durii, «Ati karaa abbaa

* 21:2 Israa'el: Israa'eliin tun Yihuda'a

keeti Yoshaafaaxii yookiin karaa Aasaa mootii Yihuda'aa hordofatiisa lakkittee,

¹³ karaa mootota Israa'elii hordofattee, akkuma maatiin Ahaabii waaqota dharaa waaqonfatte, kolbaan Yihuda'aatii fi kolbaan Yerusaalem keessa leetulle waaqota dharaa akka waaqonfattu goote; obboleeyyan teeti, maatii abbaa keetii, worra si caalanulle iijeette.

¹⁴ Kunoo, Mootiin Waan Maraa adabbii jadduu kolbaa teeti, ijoollee teeti, niitota teetii fi waan ati qaddu maratti buusa.

¹⁵ Atille dhukkuba hamaa ka madhumaan teeti guyyuma guyya'aan dhibuun hin rakkatta; muummee irratti madhumaan teeti gadhaa keeti keessaa gad hin baati» jedha» jedhe.

¹⁶ Mootiin Waan Maraa worra Filisxeemotaatii fi worra Arabaa ka biyya Itoophiya'aa† bira le'anuu Yehoraam irratti kaase.

¹⁷ Isaan biyya Yihuda'aatitti duulanee qabatanee, meya mana mootumma'aa keessa jiru mara, ilmaan isaatii fi niitota isaa mara fudhatanee deemane; ilma isaa maandhicha Ahaaziyaa malee ilmi tokkolle ka isaaf hafe hin jiru.

¹⁸ Tana maralle'een duuba, Mootiin Waan Maraa dhukkuba madhumaanii ka hin fayyine Yehoraamitti buuse.

¹⁹ Yehoraam dhukkuba kanaan rakkataa turee, dhuma woggaa lammeesso'ootitti sababa dhukkuba kanaatiin madhumaan isaa gadhaa isaa keessaa gad baatee guddoo farree du'e; kolbaan isaa ulfinna abbootii isaatiif goola ibiddaa akka dhaabanu, ulfinna isaatiif goola ibiddaa dhaabuu hin barbaanne.

²⁰ Yehoraam yennaa mootii te'u nama woggaa soddonii lamaa ti; inni Yerusaalem keessa tee'ee woggaa saddeeti bulche; yennaa inni du'e nami tokkolle isaaf hin gaddine; isaan qachaa Daawitii keessatti awwaalane malee, addee awwaala moototaatitti isa hin awwaalle.

22

Ahaaziyaan Mootii Yihuda'aa Te'e

¹ Worri saantotaa ka worra Arabaa woliin dhufane, ilmaan Yehoraamii mootichaa angafoota mara waan fixaneef, kolbaan Yerusaalemii ilma Yehoraamii maandhicha Ahaaziyaa addee abbaa isaatitti mootii godhane; tanaaf Ahaaziyaan ilmi Yehoraamii mootichaa, mootii Yihuda'aa te'e.

² Ahaaziyaan yennaa mootii te'e nama woggaa diddamii lamaa ti; inni Yerusaalem keessa te'ee woggaa tokko bulche; maqaan haadha isaa Ataaliya'a; isiin intala Ahaabii ilma Omirii ti.

³ Haati isaa akka inni waan hantuu huju waan gorsiteef, innille akkuma sanyinii Ahaabii waan hantuu huje.

⁴ Abbaan isaa du'een duuba, sanyiin Ahaabii karaa badi'ii waan isatti gorsaneef, akkuma sanyii Ahaabii innille Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu huje.

⁵ Inni gorsa isaanii fudhatee, ilma Ahaabii mootii Israa'elii Yehoraam woliin, mootii Sooriya'aa Hazaa'el loliisaaf gara Raamoot-Giili'aadii yennaa dhage, innille isa woliin dhage. Worri Sooriya'aalle achitti isa madeessane.

⁶ Inni mootii Sooriya'aa Hazaa'el woliin adoo wol lolanuu, madaa Raamaatitti isa madeessane san fayyiisaaf, Yizre'elitti deebi'e; achiin duuba ilmi Ahaabii Yehoraam waan madoweef, mootiin Yihuda'aa ilmi Yehoraamii Ahaaziyaan Yehoraam gaafatiisaaf gara Yizre'el gad dhage.

† 21:16 Itoophiyaa: Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali.

⁷ Ahaaziyaan Yoraam gaafatiisaaf dhaqiisa isaa, Waaqi du'a isaatiif sababa godhe; Ahaaziyaan yennaa achi geye, Yoraam waliin ilma Niimshii Yehuu ka Mootiin Waan Maraa akka inni sanyii Ahaabii balleessuuf muude bira dhage.

⁸ Yehuun maatii Ahaabii irratti muraa kenniisatti jiruun, worra Ahaaziya guala jiru qondaaltota Yihuda'aatii fi ilmaan obboleeyyan Ahaaziya'aa dhaggee isaan mara ijjeese.

⁹ Achiin duuba inni Ahaaziya barbaachisee, inni Samaariyaa keessatti dhokateeruun dhagganee qabane, gara Yehu'uu fidanee ijjeesane; isaan, «Inni akaakoo Yoshaafaaxii ka gadhaa tokkochaan Mootii Waan Maraa tajaajilee ti» jedhane awwaalane; eega san sanyii Ahaaziya'aa keessaa nami mootummaa qabatuu dande'u dhabame.

Ataaliyaan Mootittii Yihuda'aa Teete

¹⁰ Haati Ahaaziya'aa Ataaliyaan ilmi isi'ii akka du'e yennaa dhaggite, kaatee sanyii Yihuda'aa keessaa maatii moototaa mara balleessite.

¹¹ Intalti Yehoraamii mootichaa Yoshebaan ammoo ilmaan moototaa ka ijjeefamaaranu keessaa ilma Ahaaziya'aa Yo'aas hattee fudhattee, ta isa guddittu waliin kolloo taqe'ee takka keessatti dhossite; intalti Yoraamii Yoshebaan niitiin Yehoyaadaa hayyichaa obboleettii Ahaaziya'aa waan teetef, Ataaliyaan akka hin ijjeenneef, Yo'aas dhossite.

¹² Bara Ataaliyaan lafa bulchite san inni Galma Waaqaa keessa woggaa jaa dhokatee isaan waliin le'e.

23

Namooti Ataaliyaa Irratti Ka'ane

(2 Mot. 11:2-20)

¹ Woggaa torbeesso'ootitti ammoo Yoyaadaan jajjabaatee, worra ajajjoota dhibbaa te'ane ilma Yerohaamii Azaariyaa, ilma Yohaannaanii Ishimaa'el, ilma Obedii Azaariyaa, ilma Adaayaa Maaseyaa, ilma Ziikrii Elshaafaax waliin wol gondoore.

² Isaan biyya Yihuda'aa keessa deemanee, Lewwootaa fi soressitoota maatii Israa'elootaa qachaa mara keessaa wolitti qabane, isaan waliin gara Yersaaleemii dhufane.

³ Gumiin marti Galma Waaqaa keessatti mooticha waliin wol gondoore. Achiin duuba Yeyaadaan hayyichi, isaaniin, «Akkuma Mootiin Waan Maraa sanyii Daawitiitiif waadaa gale, kunoo ilmi mootichaa mootii hin te'a.

⁴ Wonni isin gootanu kana: Isin hayyootaa fi Lewwootaa keessaa guyyaa sanbataa worri badoo qaddanu, harka sad keessaa harki tokko karra Galmaa Waaqaa eeganuu ti!

⁵ Harka sad keessaa harki tokko mana mootumma'aa eeganuu ti! Harka sad keessaa harki tokko, «Karra hunde'ee» ta jedhantu eeganuu ti! Worri hafe marti badhinna dalleya keessaa ka Galma Mootii Waan Maraa keessa tee'anuu ti!

⁶ Hayyootaa fi Lewwootaa worra tajaajiliisaaf badoo qabanu malee nami tokkolle Galma Mootii Waan Maraa keessa hin seenin; isaan woyyuu waan te'aneef seenanuu ti! Namooti hafane marti akka ajaja Mootii Waan Maraatitti ala dhaabbatanuu ti.

⁷ Lewwooti marti meya woraanaa harkatti qabatanee mootichatti naanowanuu ti. Nami yennaa san Galma Waaqaa seenu marti ijjeefamuu ti; yennaa mootichi ol seenuu fi gad bawu isa waliin jiraadha'a» jedhe.

⁸ Lewwootii fi kolbaan Yihuda'aa marti akkuma hayyichi Yoyaadaan ajaje godhane; tokko tokkoon isaanii namoota ifi worra guyyaa Sanbataa hujii

irra jiranuu fi worra hujii ifii fixatanee galaaranu wolitti qabane. Hayyichi Yoyaadaan worra badoo hujii ifii fixataneeranuuyyuu gad hin lakkinne.

⁹ Achiin duuba hayyichi Yoyaadaan woraana, wontee gugurdo'oo fi didiqqoo dur mootichi Daawiti qabu, ta Galma Waaqaa keessa jirtu, ajajjoota dhibbaatitti kenne.

¹⁰ Inni kolbaan marti tokko tokkoo isaanii meya woraanaa ka ifii harkatti qabatanee, Galma Waaqaa kaabaa haga kibbaatitti, adaala addee ciinca'aa, marsanee mooticha akka eeganu godhe.

¹¹ Achiin duuba Yoyaada'aa fi ilmaan isaa, ilma mootichaa fidanee, kallacha itti keyanee, woraabbii barreeffama Gondooro'oo itti kennanee mootii isa godhane; isaan isa muudanee, «Mootichi bara dheeraa le'uu ti!» jedhane.

¹² Ataaliyaan hogaa kolbaan utaala mooticha leellifattu yennaa dhageette, Galma Mootii Waan Maraa keessatti gara kolba'aa dhaxxee,

¹³ mootichi seensuma addee mootiin dhaabbatu dhaabbatuun utubaa biratti dhaggite; qondaaltoti loltootaatii fi worri tultullaa afuufu isa bira dhaabbataneeran; kolbaan lafa sanii marti firinxiixaa tultullaa afuufan; faarsitootille meya faaru'uutiin faaruu jilaa qajeelchan. Achiin duuba Ataaliyaan aari'iin woyaa ifii tarsaattee, «Tun maltumma'a! Tun maltumma'a» jettee iyyite.

¹⁴ Achiin duuba hayyichi Yoyaadaan ajajjoota dhibbaa worra loltoota ajajanu gad baasee, isaaniin, «Tarree teessan oddu'uu gad isii baasa'a; nama rogii isi'ii dhufu mara shallaaga'aan ijjeesa'a» jedhe. Inni, «Galma Mootii Waan Maraa keessatti isii hin ijjeesina'a» jedheeraayyu.

¹⁵ Maarre isaan isii qabane karra mana mootumma'aa, addee, «Seensuma fardaa» jedhantu, achitti isii ijjeesane.

Haareffama Yoyaadaan Fide

(2 Mot. 11:17-20)

¹⁶ Hayyichi Yoyaadaan inninuu, kolba'aa fi mootichille, kolbaa Mootii Waan Maraa akka te'anu gondooroo godhe.

¹⁷ Achiin duuba kolbaan marti gara galma Ba'aalii dhaxxee, galma Ba'aalii san diiddee, addee ciinca'aatii fi fakkii waaqota dharaa ta achi jirtu caccasitee, hayyicha Ba'aalii Maataanille addee ciinca'aa san duratti ijjeette.

¹⁸ Hayyooti sanyii Lewwi'ii akkuma seera Muuse'ee keessatti barreeffante gammadaa fi faaru'uun kennansa gubamu Mootii Waan Maraatiif akka dhikeessanu, Daawitiin mootichi akkuma ajaje, Yoyaadaalle hujii Galma Waaqaatitti, hayyootaa fi Lewwoota itti gaafatantoota godhe.

¹⁹ Nami battiin tokkolle Galma Mootii Waan Maraa akka hin seenne, karra Galma Mootii Waan Maraa akka eeganu eeddota karraa ramade.

²⁰ Ajajjoota dhibbaa, qondaaltota, bulchitoota kolba'aatii fi kolbaa lafa sanii mara waliin mooticha Galma Mootii Waan Maraa keessaa gad baasane gara mana mootumma'aa fidaneen duuba, karaa karra gara gubba'aatiin seenanee, mooticha barcumaa mootumma'aa irra teessisane.

²¹ Ataaliyaan shallaaga'aan waan ijjeefanteef, kolbaan marti gammadde; qachaalle gabbi jedhe.

24

Mootii Yihuda'aa Yo'aas

¹ Yo'aas yennaa mootii te'e nama woggaa torbaa ti; inni Yerusaaalem keessa tee'ee woggaa afurtama bulche; maqaan haadha isaa Ziibiya'a; isiin nama qachaa Bersheeba'aa ti.

² Haga Hayichi Yoyaadaan lubbu'uun jiru, Yo'aas waan Mootii Waan Maraa gammachiisu hujje.

³ Yoyaadaan dubartii lama isa fuusisee, isaan ilmaanii fi ijoollee durraa hedduu isaaf horane.

⁴ Yo'aas mootii te'ee yennaa diqqo'oon duuba Galma Mootii Waan Maraa haaressiisaaf murteeffate.

⁵ Inni hayyootaa fi Lewwoota wolitti qabee, isaanii, «Gara qachaa biyya Yihuda'aa mara dhaqa'aatii, wogguma wogga'aan Galma Mootii Waan Maraa Waaqa keessanii akka ittiin haareffamuuf, kolbaa Israa'elii mara irraa beese guura'a! Kana ammuma dafa'aa godha'a» jedhe; Lewwooti ammoo waan inni jedhe kana dafanee hin goone.

⁶ Maarre mootichi Yo'aas soorressa hayyootaa Yoyaadaa waamee, «Ati gibira tajaajilaan Mootii Waan Maraa Muuseen gumii Israa'elii worra Yihuda'aa fi Yerusaalem keessa le'anuu irraa qarqaarsa Dunkaanii Woyyitti'iitiif ajaje, Lewwooti akka guuranu maaniif hin ilaalin?» jedhee isa gaafate.

⁷ Ilmaan Ataaliyaa dubartii hantuu sanii Galma Mootii Waan Maraa diigane, meya woyyicha mara tajaajila waaqa dharaa Ba'aaliitiif itti fayyadama-neeran.

⁸ Mootichi akka Lewwooti saanduqa beese itti guuranu hujanee, gara alaatiin karra Galma Mootii Waan Maraa dura keyanu ajaje.

⁹ Achiin duuba Lewwooti gibira Muuseen tajaajilaan Waaqaa goomolee keessatti ajaje, Mootii Waan Maraatiif akka guuranu kolbaa Yihuda'aatii fi Yerusaalemii mara keessatti lassane.

¹⁰ Qondaaltotii fi kolbaan marti gammadanee, haga saanduqa guuttutti beese guurane.

¹¹ Lewwooti saanduqa san gara qondaaltota mootichaa worra itti gaafatantoota beese'ee yennaa geessanu, isaan akka beeseen guutteertu yennaa dhagganu, barreessaan mootichaatii fi soorressa hayyootaa dhufanee beese keessaa baasane saanduqa adde'etti deebisan; guyyuma guyya'aan akkana adoo godhanuu beese bacaa guurane.

¹² Mootichi Yo'aasii fi hayyichi Yoyaadaan beese san itti gaafatantoota Galma Mootii Waan Maraatiitti kennanee, isaanille Galma Mootii Waan Maraa haaressiisaaf, worra dhakaa bocuu fi worra hujii mukaa beeku, worra hujii sibiilaa beeku ittiin qaxarane.

¹³ Hojjattooti sun marti jabaatane hujanee, Galma Waaqaa san akka duri jirutti haaressanee jabeessanee ijaarane.

¹⁴ Hujii haaressiisaa fixaneen duuba beese irraa hatte fidanee mootichaa fi Yoyaada'atti kennane; isaan meya Galma Waaqaa keessa ittiin tajaajilanu, meya ciincaa itti dhikeessanu, qorii boollittii, meya worqi'ii fi meetii irraa hujamu ka adda addaa hujisiisane; haga Yoyaadaan lubbu'uun jiru mara Galma Mootii Waan Maraa keessatti ciincaan yennaa mara dhikeeffamaa ture.

¹⁵ Yoyaadaan guddoo dulloomee woggaa dhibba tokkoo fi soddomatti du'e.

¹⁶ Inni kolbaa Israa'eliitiif, Galma Waaqaatii fi Waaqaafille waan dansaa waan hujjeef, qachaa Daawitii keessatti addee awwaala moototaatitti isa awwaalane.

Hammeenna Yo'aasii

¹⁷ Yoyaadaan du'een duuba qondaaltoti Yihuda'aa dhufanee mootichaaf sagadane; innille yaada isaanii fudhate.

¹⁸ Isaanille Galma Mootii Waan Maraa Waaqa abbootii ifii ta durii lakkisane, utubaa fakkii waaqa dharaa ta, «Asheeraa» jedhantuu tajaajilane; yakkaa isaanii tanaaf muftiin Waaqaa kolbaa Yihuda'aatii fi kolbaa Yerusaleemii irratti dhutte.

¹⁹ Mootiin Waan Maraa akka isaan gara isaa deebi'annuuf raagota isaanitti erge; raagoti sun isaan ifi eeggachiisanulle isaan ammoo isaaniif hin dhageenne.

²⁰ Achiin duuba Ayyaanni Waaqaa gara Zakaariyaasii ilma Yoyaadaa hayyichaa dhufee, inni lafa tullittii irra kolbaa dura dhaabbatee, «Waaqi, «Isin maaniif ajaja Mootii Waan Maraa irra dabartan? Isiniif hin milkoottu; isin Mootii Waan Maraa waan lakkittaneef innille isin lakkiseera» jedha» jedhe.

²¹ Isaan ammoo mala isatti dhowanee, ajaja mootichaatiin badhinna dalleya keessaa ka Galma Mootii Waan Maraa keessatti dhaka'aan tumanee ijjeesane.

²² Mootichi Yo'aas waan dansaa abbaan Zakaariyaasii Yoyaadaan isaaf godhe dedhee, ilma isaa Zakaariyaas ijjeesise; Zakaariyaas du'iisatti jiruun, «Mootiin Waan Maraa hujii teeti ilaalee, akka hujii teetii sii kennuu ti!» jedhe.

²³ Dhuma woggaa saniititti loltooti sooriya'aa Yo'aasitti duulane. Isaan Yihuda'aa fi Yerusaleem qabatanee qondaaltota kolbaa oddu'uu ijjeesane, waan achi keessaa saamane mara gara mootii ifii ka Damaasqoo keessa jiruu ergane.

²⁴ Loltooti Sooriya'aa diqqoo te'anulle, Mootiin Waan Maraa loltoota bacaa harka isaaniititti dabarsee kenne. Kolbaan Yihuda'aa Mootii Waan Maraa Waaqa abbootii ifii ta durii waan lakkisaneef, muraan Yo'aas irratti muum-motte.

²⁵ Worri sooriya'aa yennaa achii bayanu akka malee Yo'aas madeessanee gatane biraa deemane; inni ilma Yoyaadaa hayyichaa waan ijjeesiseef, qondaaltoti isaatu mala isatti dhowanee, taqee isaa irratti isa ijjeesane. Maarre inni du'ee qachaa Daawitii keessatti awwaalame; te'uu malee addee awwaala moototaatitti isa hin awwaalle.

²⁶ Worri isa irratti mala dhowane, ilma dubartittiin biyya Amoonii Shiimaat deette Zaabaadii fi ilma dubartittiin biyya Mo'aabii Shiimriit deette Yohozaabaad.

²⁷ Dabarsiin ilmaan isaa, jechi isa irratti raagaan dubbatame, Galma Waaqaa haareessis isaa, kitaaba dabarsii moototaa keessatti barreeffameera. Ilmi isaa Amaasiyaas addee isaatitti mootii te'e.

25

Mootii Yihuda'aa Amaasiyaa

¹ Amaasiyaan yennaa mootii te'u nama woggaa diddamii shanii ti; inni Yerusaleem keessa tee'ee woggaa diddamii sagal bulche; maqaan haadha isaa Yeho'aadaan; isiin nama qachaa Yerusaleemii ti.

² Inni Mootii Waan Maraa duratti waan sirrii te'e huje; te'uu malee gadhaa tokkochaanii moti.

³ Amaasiyaan mootummaa ifii jabeeffateen duuba, qondaaltota ifii ta abbaa isaa mooticha ijjeette san ijjeese.

⁴ Te'uu malee kitaaba seera Muuse'ee keessatti, Mootiin Waan Maraa, «Nami martinuu cubbuu ifitiif ijjeefamuu malee, abbootiin cubbuu ijoolle'eetiif, ijoolleen cubbuu abbootii'itiif hin ijjeefamin» jedhee akkuma ajaje, ilmaan worra abbaa isaa ijjeese sanii hin ijjeenne.

⁵ Amaasiyaan kolbaa Yihuda'aa wolitti qabee, akka maatii maatii isaaniititti gosa Yihuda'aatii fi gosa Beniyaamiiniitiif ajajjoota kumaatii fi ajajjoota dhibbaa file; achiin duuba worra woggaan isaanii diddamaatii fi diddamaan

ol te'ane wolitti qabee, worra wonte'ee fi woraana qabatanee lola dhaquu dande'anu nama kuma dhibba sad dhaggate.

⁶ Itti dabalee biyya Israa'elii keessaa loltoota kuma dhibba tokko meetii gara kiiloogiraama kuma sadii fi dhibba afuriitiin qaxare.

⁷ Nami Waaqaa tokko ammoo gara isaa dhufee, isaan, «Ee mooticha, Mootiin Waan Maraa kolbaa Israa'eliitii fi kolbaa Efreemii woliin waan hin jirreef, loltooti Israa'elii tun si woliin hin duulin!

⁸ Ati gadhaa jabaattee dhaxxee yoo loltelle, Waaqi si qarqaariisaaf, si jissiiisaafille hunna waan qabuuf, inni diinota keeti jalatti si hin jissa» jedhe.

⁹ Amaasiyaan, «Loltoota Israa'elii tanaaf meetii gara kiiloogiraama kuma sadii fi dhibba afurii ta baase tana attam godha ree?» jedhee nama Waaqaa san gaafate; nami Waaqaa sun deebisee, «Mootiin Waan Maraa tana caalaa sii kennuu hin dande'a» jedhe.

¹⁰ Maarre Amaasiyaan loltoota biyya Efreemiitii gara isaa dhufane san gara biyya isaanititti deebise; isaan namoota Yihuda'aatitti guddoo aaranee gara biyya ifii deebi'ane.

¹¹ Achiin duuba Amaasiyaan jajjabaatee loltoota ifii waammatee gara dhooqa sooddaa fudhatee bayee, achitti loltoota Se'iirii kuma kudhan ijjeese.

¹² Namooti Yihuda'aa namoota dhibii kuma kudhan booji'anee, qaccee ras-saa tokkoo gubbaa baasanee, achii irraa gad isaan darbanee marti isaaniituu caccabanee bututane.

¹³ Loltooti Amaasiyaan akka isa woliin hin duulle ifi biraa deebise, qachoota Yihuda'aa Samaariya'aa kaasanee haga Bet-Horooniititti lolanee, namoota kuma sad ijjeesane meya bacaa booji'ane.

¹⁴ Amaasiyaan worra Edoonii lolee yennaa deebi'e, waaqota dharaa ka worra Se'iirii fudhatee dhufee, ifiif dhaabbachiifatee, isaanitti waaqonfatee ciincaalle dhikeesseef.

¹⁵ Mootiin Waan Maraa Amaasiya'atti guddoo waan aareef, Waaqi raagicha isatti ergee, «Waaqota dharaa ka kolbaa ifiituu harka keeti jalaa baasuu hin dandeenne, waaqota kolbaa ormaa maaniif qarqaarsa gaafatta?» jedhe.

¹⁶ Adoo inni dubbatiisatti jiruu, Amaasiyaan mootichi isaan, «Nuuti gorsaa mootichaa si godhanneerraa? Cadhisi! Ati maaf du'a feeta?» jedhe.

Raagichille cadhise; te'uu malee, «Ati tana hujjee, gorsa kiyya dhage'uu waan diddeef, Waaqi si balleessiisaaf akka murteesse ani hin beeka» jedhe.

Mootiin Yihuda'aa Amaasiyaan Israa'el Lole

¹⁷ Achiin duuba mootiin Yihuda'aa Amaasiyaan gorsitoota ifii woliin mari'ateen duuba, gara Yeho'aashii mootii Israa'elii, ilma Yeho'aazii, ka akaakoo Yehu'uutitti nama ergee, «Koottu me, wol ilaallaa!» jedhee lolaaf waammate.

¹⁸ Mootiin Israa'elii Yeho'aash ammoo, mootii Yihuda'aa Amaasiya'aaf deebisee, «Qoreen Libaanon keessaa takka, muka hindheensaa ka Libaanon keessaatitti ergitee, «Intala teeti ilma kiyya heerumsiisi!» jetteen. Bineensi Libaanonii ka karaa san dabarulle qoree san irra sirbe.

¹⁹ Ati, «Ani worra Edoonii injifadheera» jettee koortee, ifi jajjeerta. Amma ammoo manuma keeti tee'i. Ati jiddee, Yihudaalle si woliin akka jiddu maaniif rakkinna ifi irratti kakkaasiisaaf barbaadda?» jedhe.

²⁰ Amaasiya'aa fi namooti isaa waaqota dharaa ka worra Edoonii waan waaqonfataneef, Waaqi harka diinota isaaniititti dabarsee isaan kenniisa waan barbaadeef, Amaasiyaan gorsa hin caqanne.

²¹ Maarre mootiin Israa'elii Yeho'aash ol bayee, innii fi mootiin Yihuda'aa Amaasiyaan biyya Yihuda'aa keessatti qachaa Bet-Shemeshiititti wol lolane.

²² Loltooti Yihuda'aa loltoota Israa'eliitiin injifatamanee, tokko tokkoon isaanii gara mana mana ifii baqatane.

²³ Mootiin Israa'elii Yeho'aash mootii Yihuda'aa akaakoo Yeho'ahaazii ilma Yo'aasii Amaasiyaa Bet-Shemeshitti booji'ee gara Yerusaalemii geessee, dalleya dhaka'aa ka Yerusaalemii karra Efreemiitii kaasee haga karra roga dalleyaa ka dheerinni isaa gara ciqilee dhibba afurii diige.

²⁴ Inni worqi'ii fi meetii mara, meya Galma Mootii Waan Maraa keessa jiru ka Obed-Edoom eegu maraa fi karra mana mootumma'aa keessa jirtu, namoota booji'amanelle qabatee, gara qachaa Samaariya'aa deebi'e.

²⁵ Ilmi Yeho'ahaazii mootichi Israa'elii Yeho'aash du'een duuba, ilmi Yo'aasii mootichi Yihuda'aa Amaasiyaan woggaa kudhanii shan le'e.

²⁶ Wonni dhibiin ta mootichi Amaasiyaan huje, jalqabaa kaasee haga dhumaatitti kitaaba dabarsii mootota Yihuda'aatii fi Israa'elii keessatti barreeffanteerti.

²⁷ Amaasiyaan Mootii Waan Maraa hordofatiisa haga lakkisee jalqabane, isa ijjeesiisaaf Yerusaalem keessatti mala waan isatti dhowaneef, inni gara qachaa Laakiishii duraa baqate; isaan ammoo namoota isa gula erganee, achumatti isa ijjeesisane.

²⁸ Reeffa isaa fardaan fidanee, qachaa Yerusaalemii keessatti abbootii isaa ta durii biratti awwaalane.

26

Uziyaan Mootii Yihuda'aa Te'e

(2 Mot. 14:21-22; 15:14)

¹ Achiin duuba kolbaan Yihuda'aa marti wolii galanee nama dargaggeessa woggaa kudhanii jaa Uziyaa addee abbaa isaa Amaasiya'aatitti mootii isa godhatane.

² Amaasiyaan du'een duuba, Uziyaan qachaa Elotii deebisee ijaaree, gara biyya Yihuda'aatitti deebise.

³ Uziyaan yennaa mootii te'e nama woggaa kudhanii jaa ti; inni Yerusaalem keessa tee'ee woggaa shantamii lama bulche; maqaan haadha isaa Yekoliya'a; isiin nama Yerusaalemii ti.

⁴ Inni akkuma abbaa ifii Amaasiya'aa Mootii Waan Maraa duratti waan sirrii te'e mara huje.

⁵ Waaqa sodaatiisa ka isa barsiise, Zakaariyaas bara lubbu'uun jiru keessa, Uziyaan Waaqaaf ajajame. Bara inni Mootii Waan Maraatiif ajajame san Waaqi isa milkeesse.

⁶ Uziyaan worra Filisxeemotaatitti duulee dalleya dhaka'aa ka Gaatii, ka Yaabne'eetii fi ka Ashidoodii diige; achiin duuba qachaa dhibii Ashidood keessatti, lafa Filisxeemotaa addee dhibiille'etti ijaare.

⁷ Lola worra Filisxeemotaatii fi lola worra Arabootaa ka Gur-Ba'aal keessa le'anuu irratti, lola worra Me'unootaa irralle'etti Waaqi isa qarqaare.

⁸ Worri Amoonotaa gibira Uziya'aaf gabbarane; inni mootii jabaa waan te'eef, gurri isaa haga meessaa biyya Gibxiititti beekkame.

⁹ Uziyaan qachaa Yerusaalemii keessatti karra roga irraa biratti, karra dhooqaatii fi roga dalleenni dhagee itti dabu biratti xelleephoo jadduu ijaare.

¹⁰ Inni koobota jalaa fi dirree keessatti horii bacaa waan gabuuf, goomolee keessatti xelleephoo dhaka'aan ijaare; boolla bisaaniille qochisiise; hujii qonnaa waan jaalatuuf, koobotaa fi lafa laattuu maratti namoota fichaa isaaf qotanuu fi muka woyni'ii isaaf dhaabanu qabaayyu.

¹¹ Ammalle Uziyaan loltoota lola dande'anu, worra kutaa kuta'aan akka Yiye'eliin barreessichii fi Ma'aseyaan qondaaltichi ajaja Hanaaniyaa ajajjoota loltoota mootichaa keessaa tokko te'eetiin laakkowanetti, loltoota duulaaf bayanu qabaayyu.

¹² Laakkossi sooressitootaa worri maatii maatii abbootii isaaniititti ajajjoota te'ane wolumatti kuma lamaa fi dhibba jaa.

¹³ Laakkossi loltoota ajajjoota kana jala jiranuu kuma dhibba sadii fi kuma torbaa fi dhibba shan; isaan diina mooticha irraa ittisiisaaf worra hunnaameyyii lola dande'anu.

¹⁴ Uziyaan loltoota tana maraaf wontee, woraana, gullee sibiilaa, qomoo sibiilaa, guube'ee fi dhakaa looyya'aan* darbatanu goode.

¹⁵ Inni meya jabaa daayaa fi dhakaa gugurdaa ittiin darbatanu Yersaalem keessatti worra ogummaa hujii harkaa qabuun hujisiisee xelleepho'oo fi roga dalleya qacha'aa mara irra keye; haga jabaatutti qarqaarsa guddaa Waaqa biraa waan dhaggateef, gurrii isaa biyya fago'ootitti beekkame.

¹⁶ Uziyaan nama jabaa te'een duuba kooree badii ifitti fide; inni ifumaaf gara Galma Mootii Waan Maraa seenee, addee ciinca'aa ta hixaanaa irratti ciinca hixaanaa dhikeessiisaan Mootii Waan Maraa Waaqa ifi yakke.

¹⁷ Hayyichi Azaariya'aa fi hayyooti Mootii Waan Maraa worri jajjabi saddeettami isa gula seenane.

¹⁸ Isaan Uziyaa mootichaan, «Ee Uziya'a! Hayyoota worra sanyii Aaroniitii fi worra hujii tanaaf adda bayane qofatti hixaana Mootii Waan Maraatiif aarsan malee, ati aarsiisaaf hin malle; ati Mootii Waan Maraa Waaqa waan yakkiteef, isa irraa ulfinna hin dhaggattu; Galma keessaa bayi» jedhane.

¹⁹ Uziyaan girgiraa harkatti qabatee, hixaana aarsiisaaf adoo jedhuu isaanitti aare; adoo inni isaanitti aariisatti jiruu Galma Mootii Waan Maraa keessatti addee hixaana itti aarsanu biratti ila hayyoota sanii duratti dhukkubi goga'aa farrisiisaan adda isaa irratti baye.

²⁰ Azaariyaan sooressi hayyootaati fi hayyooti dhibiin marti yennaa isa ilaalanu, dhukkuba goga'aa farrisiisaa adda isaa irratti dhagganee ariiti'in gad isa baasane; Mootiin Waan Maraa waan isa adabeef, innille achi keessaa bayiisaaf ariifate.

²¹ Uziyaan mootichi haga gaafa du'utitti dhukkubi goga'aa farrisiisaan isa irraa hin banne; inni dhukkuba goga'aa farrisiisaa waan qabuuf, Galma Mootii Waan Maraa irraa dhooggamee mana kophaa jiru keessa tee'e; achiin duuba ilmi isaa Yotaam bulchaa mana mootumma'aa te'ee, kolbaa lafa sanii bulche.

²² Waan Uziyaan bara mootummaa ifi keessa huje keessaa waan hafe, jalqabaa kaasee haga muumme'etitti ilmi Amosii Isaayaasiin raagichi barreesseera.

²³ Uziyaan du'e; inni dhukkuba goga'aa farrisiisaa waan qabuuf, addee awwaalaa ta moototaa, ta abbootii ifii ta durii biratti awwaalame; addee isaatitti ilmi isaa Yotaam mootii te'e.

27

Yotaam Mootii Yihuda'aa Te'e

¹ Yotaam yennaa mootii te'e nama woggaa diddamii shanii ti; inni Yersaalem keessa tee'ee woggaa kudhanii jaa bulche; maqaan haadha isaa Yerusha'a; isiin intala Zaadoqii ti.

² Inni akkuma abbaa ifii Uziya'aa Mootii Waan Maraa duratti waan sirrii te'e huje; te'uu malee akka abbaa ifii hixaana aarsiisaaf hunnaan gara

* 26:14 Looyyaan: Yaadannoo 1 Sam. 17:40 irratti kenname ilaali.

Galma Mootii Waan Maraa hin seenne. Kolbaan lafa sanii ammoo cubbuu hujiisa hin lakkinne.

³ Yotaam karra Galma Mootii Waan Maraa ta ol aantu deebisee ijaare; inni dalleya dhaka'aa qachaa kooba Ofeeliille jabeessee ijaare.

⁴ Koobota Yihuda'aa irratti qachaa, koobota gongomaan bacaan jiru irralle'etti kushe'ee fi xelleephoo ijaare.

⁵ Inni mootii Amoonotaa lolee injifate; bara san worri Amoonotaa, meetii gara kiiloogiraama kuma sadii fi dhibba afurii, qamadii kuntaala kuma tokko, garbuu kuntaala kuma tokko Yotaamiif gibira kennane; woggaa lammeesso'ootii fi sadeesso'oolle'etti, akkasuma gabbarane.

⁶ Yotaam gajeelumma'aan Mootii Waan Maraa Waaqa ifii dura waan deddeebi'eef hunnaamesa te'e.

⁷ Wonni dhibiin ta mootichi Yotaam hujee fi lolli inni lole martinuu, kitaaba dabarsii mootota Israa'eliitii fi mootota Yihuda'aa keessatti barreeffanteerti.

⁸ Inni yennaa mootii te'e nama woggaa diddamii shanii ti; inni Yersaalem keessa tee'ee woggaa kudhanii jaa bulche.

⁹ Yotaam du'ee qachaa Daawitii keessatti, abbootii ifii ta durii biratti awwaalame; ilmi isaa Ahaaz addee isaatitti mootii te'e.

28

Ahaaz Mootii Yihuda'aa Te'e

¹ Ahaaz yennaa mootii te'e nama woggaa diddamaa ti; inni Yersaalem keessa tee'ee woggaa kudhanii jaa bulche. Inni akka Daawitii abbaa abbootii isaa ta durii Mootii Waan Maraa duratti waan sirrii te'e hin hunye.

² Inni ammoo akkuma moototi Israa'elii hujane hujee, waaqa dharaa Ba'aal waaqonfatiisaaf sibiila baqisiisee fakkii hujee.

³ Inni akkuma kolbaa gosa biyya adda addaa ta waan battii hujee, Mootiin Waan Maraa kolbaa Israa'elii duraa ari'ee baase sanii, dhooqa ilma Hiinomii keessatti hixaana aarse; ilmaan ifille ciincaa dhikeesse.

⁴ Ahaaz addee waaqonfanna'aa irratti, qaccee koobotaa irratti, muka banqaqaa mara jalalle'etti ciincaa dhikeessee, hixaanalle aarse.

⁵ Tanaaf Mootiin Waan Maraa Waaqi harka mootii Sooriya'aatitti dabarsee isa kenne; worri Sooriya'aa isa injifatanee kolbaa isaa bacaa booji'ane gara Damaasqo'oo geessane; inni harka mootii Israa'eliille'etti dabarfamee kennamee, innille akka malee lolee isa miidhe.

⁶ Kolbaan Yihuda'aa Mootii Waan Maraa Waaqa abbootii ifii ta durii waan lakkisaneef, mootiin Israa'elii ilmi Remaaliya'aa Pheqaan guyyaa tokkotti loltoota Yihuda'aa keessaa kuma dhibbaa fi kuma diddama ijeese.

⁷ Nami sanyii Efreemii, loltichi jabaan Ziikri, ilma mootichaa Ma'aseyaa, itti gaafatamaa mana mootumma'aa Azriiqaamii fi itti aanaa mootichaa Elqaanaa ijeese.

⁸ Israa'elooti gosa ifituu dubartoota, ijoollee dhiiraatii fi ijoollee durraa wolumatti nama kuma dhibba lama booji'ane; akkasuma meya bacaa boojuu fudhatanee gara Samaariya'aa deebi'ane.

Odeedii Raagicha

⁹ Loltooti gara Samaariya'aa yennaa deebite, raagichi Mootii Waan Maraa Odeed isaan dhaggiisaaf dhaqee, «Mootiin Waan Maraa Waaqi abbootii teessanii ta durii kolbaa Yihuda'aatitti waan aareef, harka keessanitti dabarsee isaan kenne; isin ammoo aarii jaddu'uun isaan ijeettane; Waaqille aarii teessan ta akka malee hammaatte tana dhaggeera.

¹⁰ Isin amma dhiiraa fi dubartoota kolbaa Yihuda'aatii fi kolbaa Yerusaalemii garboonfatiisa barbaaddan; isin tana yennaa gootanu Mootii Waan Maraa Waaqa keessan duratti yakkaa hujuu keessanii motii ree?

¹¹ Amma na caqasa'a! Mufiin Mootii Waan Maraa isin irratti waan bobettuuf, gosa teessan ta boojitane deebisa'aatii galcha'a» jedhe.

¹² Achiin duuba sooressitoota sanyii Efreemii keessaa gariin, ilmi Yohaanaanii Azaariyaan, ilmi Meshiilemootii Berekiiyaan, ilmi Shaalumii Yehizqiiya'aa fi ilmi Hadlaayii Amaasaan worra duula irraa gale san mormanee,

¹³ «Isin worra booji'ame kana as fiduu hin malle! Nuuti ammaayyuu yakkaa guddoo qanna; mufiin Mootii Waan Maraa Israa'el irratti bob'e'iisatti jirti; ammalle yakkaa irratti yakkaa dabalatuu barbaaddanii ree?» jedhane.

¹⁴ Maarre loltooti sun qondaaltotaa fi gumii san mara duratti worra booji'ame san gad lakkisane, meya saamanelle deebisane.

¹⁵ Achiin duuba worri maqaan isaanii dhowame sun worra booji'ame kana fuudhane, worra qullaa hafe mara woyaa saamane san keessaa itti uffisane. Woyaa, kophee, sagale'ee fi waan unanulle kennaneefii, zayitiille madaa isaanii dibane; worra dadhabaa deemuu hin dandeenne ammoo harree irra keyanee, addee firri isaanii jiru gara qachaa Yeriko'oo ka, «Qachaa Meexxi'ii» jedhamuu geessane. Achiin duuba ifiif gara Samaariya'aa deebi'ane.

Ahaaz Akka Mootiin Asoorii Isa Gargaaru Gaafate

¹⁶ Bara san Ahaaziin mootichi gara mootii Asoorii nama ergee qarqaarsa gaafate.

¹⁷ Worri Edoomii ammalle dhufanee kolbaa Yihuda'aa lolanee injifatane boojuu fudhatanee ideemane.

¹⁸ Worri Filisxeemotaalle qachoota kooba jalaatii fi qachoota biyya Yihuda'aa ka gara kibbaa jiranu lolanee, Bet-Shemeshi, Ayalon, Gederot, Sokoo, Tiimna'aa fi Giimzoo ollaa adaala sanii mara qabatanee achi qubatane.

¹⁹ Mootiin Yihuda'aa Ahaaz biyya Yihuda'aatitti hammeenna baceessee Mootii Waan Maraatiif guddoo waan hin addataminiif, Mootiin Waan Maraa kolbaa Yihuda'aa salphise.

²⁰ Mootiin Asoorii Tiiglaat-Phileeser gara Ahaazii yennaa dhufe isa rakkise malee isa hin qarqaarre.

²¹ Maarre Ahaaz qooda Galma Mootii Waan Maraa irraa, qooda mana mootumma'aa irraa fi qooda qondaaltotaa irraa meya fuudhee mootii Asooriitiif kenneeraayyu; te'uu malee tunille isa hin qarqaarre.

²² Ahaaziin mootichi yennaa rakkinna ifii keessalle, ka durii caala'aayyuu Mootii Waan Maraatiif ka hin addatanne te'e.

²³ Inni, «Waaqoti dharaa ka Sooriya'aa mootota Sooriya'aa waan qarqaaraneef, analle akka qarqaaranu ciincaa isaaniif dhikeessa» jedhee waaqota dharaa ka worra Damaasqo'oo worra isa injifataneef ciincaa dhikeesse; te'uu malee hujiiin tun isaa fi kolbaa Israa'elii maraaf sababa jinnanaa teete.

²⁴ Itti dabalee Ahaaz meya Galma Mootii Waan Maraa keessaa wolitti qabee caccasse; balbala Galma Mootii Waan Maraa cufee, roga irga karaa Yerusaalem keessaa maratti addee ciinca'aa ta waaqota dharaa ijaare.

²⁵ Qachaa biyya Yihuda'aa mara keessatti, waaqota dharaa ka dhibi'iif addee waaqonfanna'aa ijaaree, Mootii Waan Maraa Waaqa abbootii ifi ta durii aarse.

²⁶ Wonni dhibiin ta Ahaaziin mootichi huje, jalqabaa kaasee haga muumme'etitti kitaaba dabarsii mootota Israa'eliitii fi Yihuda'aa keessatti barreeffanteerti.

²⁷ Ahaaz du'ee qachaa Yerusaalemii keessatti isa awwaalane; te'uu malee addee awwaala moototi Israa'elii itti awwaalamanutti isa hin awwaalle. Ilmi isaa Hisqiyaas addee isaatitti mootii te'e.

29

Mootii Yihuda'aa Hisqiyaas

¹ Hisqiyaas yennaa moti te'e nama woggaa diddamii shanii ti; inni Yerusaalem keessa tee'ee woggaa diddamii sagal bulche; maqaan haadha isaa Abiyya'a; isiin intala Zakaariyaasii ti.

² Inni akkuma Daawitii abbaa abbootii isaa ta durii Mootii Waan Maraa duratti waan sirrii te'e huje.

Galma Waaqaa Qulqulloome

³ Inni mootii te'ee woggaa tokkeesso'oo, ji'a tokkeesso'oo keessa karra Galma Mootii Waan Maraa banee deebisee haarsesse.

⁴ Inni hayyootaa fi Lewwoota badhinna dalleya keessaa ka Galma Mootii Waan Maraa ka karaa aduun baatuutitti wolitti qabee,

⁵ isaaniin, «Isin Lewwooti dhage'a'a! Isin amma ifi adda baasa'aatii Galma Mootii Waan Maraa Waaqa abbootii teessanii ta duriille woyyoonsa'a! Waan Galma Mootii Waan Maraa batteesse mara isa keessaa balleessa'a!

⁶ Abbootiin teenna ta durii, Mootii Waan Maraa Waaqa keennaaf hin addatanne; isaan isa duratti waan sirrii hin te'in hujanee, isa lakkisane, addee woyyittii isaatitti dudda galane.

⁷ Isaan balbala soroo Galma Mootii Waan Maraa cufanee, issaalle dhaanfane; Galma Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii keessatti hixaana hin aarisine yookiin kennansa gubamulle hin dhikeessine.

⁸ Tanaaf Mootiin Waan Maraa kolbaa Yihuda'aatii fi kolbaa Yerusaalemititti aaree, akkuma isin beettanu, waan nama mara sodaachisu, waan murgo'oo isaan godhee, waan nama rifachiisu itti fide.

⁹ Sababa kanaaf abbootiin teenna ta durii shallaaga'aan dhumattee, nitoleen teennaa fi ijoolleen teenna booji'amanee fudhatamane.

¹⁰ «Haganaa achi akka inni nutti hin aarreef, ani Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii waliin gondoaroo godhatiisaaf murteeffadheera.

¹¹ Ee ijoollee tiyya! Isin akka isa dura dhaabbatane isa tajaajiltanuuf, tajaajiltoota isaa akka teetanuuf, hixaanalle isa duratti akka isaaf aarsitanuuf Mootii Waan Maraa isin waan filateef hin rincicina'a» jedhe.

¹² Lewwooti worri huji'iif kakka'ane ta asii gad jiranu: Sanyii Qehaatotaa keessaa, ilma Amaasaayii Mahaat; ilma Azaariya'aa Yo'el. Sanyii Meraarotaa keessaa, ilma Abdii Qiish; ilma Yihaleli'elii Azaariya'a. Sanyii Gershoonotaa keessaa, ilma Ziima'aa Yo'aak; ilma Yo'aakii Eden.

¹³ Sanyii Eliizaafaanii keessaa, Shiimrii fi Yewu'el.

Sanyii Asaaf keessaa, Zakaariyaasii fi Mataaniya'a.

¹⁴ Sanyinii Hemaanii keessaa, Yehii'elii fi Shime'i; sanyii Yedutuu keessaa, Shema'iya'aa fi Uzii'el.

¹⁵ Isaan kun fira ifi Lewwoota wolitti qabane ifi woyyoonsaneen duuba, akka seeraatitti ifi qulqulleessaneen duuba, mootichi akka jecha Mootii Waan Maraatitti akkuma isaan ajajetti Galma Mootii Waan Maraa qulqulleessane.

¹⁶ Hayyooti Galma Mootii Waan Maraa qulqulleessiisaaf gara keessaa seenane; waan battii Galma Mootii Waan Maraa san keessatti dhaggane mara gara badhinna dalleya keessaa ka Galma Mootii Waan Maraa gad baasane; worri Lewwootaa achii fuudhanee dhooqa Qedrooniititti gatane.

¹⁷ Isaan ji'a tokkeesso'oo guyyaa tokkeesso'ootitti qulqulleessuu jalqabane, guyyaa saddeetesso'oo haga soroo Galma Mootii Waan Maraa qulqulleessane; guyyaa saddeeti itti dabalanee Galma Mootii Waan Maraa qulqulleessane, wolumatti ji'a tokkeesso'oo guyyaa kudhanii jayeesso'ootitti qulqulleessane fixane.

¹⁸ Achiin duuba gara Hisqiyaasii mootichaa dhagane, «Nuuti, Galma Mootii Waan Maraa addee ciinca'aa ta kennansa gubamuu meya isi'ii mara waliin, xarapheessaa daabboo Waaqaaf kennante irra keyanu meya isaa mara waliin qulqulleessineerra.

¹⁹ Ahaaziin mootichi bara mootii te'eerutti Mootii Waan Maraatiif addatamuu dhabe, meya inni achii baase mara adde'etti deebinne woyyoonsineerra; kunoo mey sun amma addee ciinca'aa ta Mootii Waan Maraa dura jira» jedhane isatti himane.

²⁰ Boruyyaa barii ganama mootichi Hisqiyaas qondaaltota qacha'aa wolitti qabee gara Galma Mootii Waan Maraa dhaqe.

²¹ Isaan marroo cubbuu mootumma'aatiif, marroo cubbuu Galma Mootii Waan Maraatiif, marroo cubbuu kolbaa Yihuda'aatiif, dardaroota torba, korbeeyyii hoole'ee torba, buruusota hoole'ee torbaa fi buruusota re'e'ee torba ciinca'aaf fidane; hayyooti sanyii Aaronii addee ciinca'aa ta Mootii Waan Maraa irratti kennansa kana ciincaa akka dhikeessanuuf mootichi isaan ajaje.

²² Hayyooti dursitee dardaroota san qaltee, itti aansitee, korbeeyyii hoole'ee qaltee, dhuma irratti buruusota hoole'ee qaltee dhiiga addee ciinca'aa irratti fiffixxe.

²³ Achiin duuba Korbeeyyii re'e'ee ta kennansa marroo sababa cubbu'uutiif dhikaattu fidanee mootichaa fi kolbaa dura dhaabbachiisane; isaanille harka ifii irra keyane.

²⁴ Mootichi kennansa gubamuu fi kennansa gumaa cubbu'uutiif dhikaatu kolbaa Israa'elii maraaf akka godhamu duraan dursee waan ajajeeruuf, hayyooti korbeeyyii re'e'ee san qaltee, kolbaa Israa'elii maraaf gumaa cubbu'uutiif, dhiiga korbeeyyii'ii san addee ciinca'aa irratti dhangalaatte.

²⁵ Akkuma dur Mootiin Waan Maraa karaa raagota ifitiin, Daawiti, raagicha Gaadii fi raagicha Naataan ajajetti, akkasuma Hisqiyaasiin mootichi Lewwoota Galma Mootii Waan Maraa keessatti sibiila qilillisuun, kiraaraa fi maseenqoon faarsanu ramade.

²⁶ Maarre Lewwooti meya faaru'uu ka Daawitii qabatanee, hayyootille tultullaa ifii qabatanee dhaabbatane.

²⁷ Achiin duuba Hisqiyaasiin mootichi kennansi gubamu addee ciinca'aa irratti akka dhikaatu ajaje. Kennansi gubamu sun gubamiisa yennaa jalqabe, worri faarfattulle meya faaru'uu ka Daawitii mootii Israa'eliitii fi tultulla'aan bookarfamanee faaruu Mootii Waan Maraa faarfatu jalqabane.

²⁸ Haga kennansi gubamu gubamee dhumatutti, gumiin duudiin waaqonfattee, Faarfattootille faaruu faarsitee, tultullaalle afuufame.

²⁹ Kennansi gubamu sun gubamee dhumateen duuba mootichii fi kolbaan isa waliin jirtu marti gombifantee waaqonfatte.

³⁰ Hisqiyaasiin mootichii fi qondaaltoti isaa, faaruu Daawitiitii fi Asaafii raagichaa qopheessanee Mootii Waan Maraa akka leellifatanu Lewwoota ajajane; isaan gammadaan faarfatanee, gombifamanee waaqonfatane.

³¹ Achiin duuba Hisqiyaas kolba'aan, «Kunoo, isin amma Mootii Waan Maraatiif ifi woyyoonsitaneertan; as dhikaadha'aatii ciinca'aa fi kennansa

galataa gara Galma Mootii Waan Maraa fida'a» jedhe; maarre gumiin ci-inca'aa fi kennansa galataa fidde; worri fedha qabanu marti kennansa gubamu fidane.

³² Laakkossi horii kennansa gubamuuf gumiin sun fiddee, dardaroota torbaatama, korbeeyyii hoole'ee dhibbaa fi buruusota hoole'ee dhibba lama; horiin kun marti Mootii Waan Maraatiif, kennansa gubamuuf dhikaate.

³³ Laakkossi horii woyyoomee sun wolumatti, dardaroota dhibba jaa, hoole'ee fi re'e'ee kuma sad.

³⁴ Te'uu malee horii kennansa gubamuuf qalame san gogaa irraa baasi-isaaf, hayyooti achi jiranu waan diqqaataneeff, Lewwooti obboleeyyan isaanii haga hujiin dhumattutti, hayyooti dhibiin haga ifi woyyoonsitutti isaan qarqaarane. Lewwooti ifi woyyoonsiisaaf hayyoota caalaa qalbii sirri'ii qaban.

³⁵ Gaafas kennansa gubamu ka laakkossi isaa baca'aa san biratti, coomi kennansa tokkumma'aatiif dhikaate, kennansi daadhii woyni'ii ka kennansa gubamuuf dhikaate jiran.

Akka kanaan tajaajilli Galma Mootii Waan Maraa akka duriititti deebi'e.

³⁶ Wonni martinuu akka kanatti ariiti'iin waan hujanteef, Waaqi kolbaa tanaaf waan qopheesseef, Hisqiyaasii fi kolbaan martinuu guddoo gammadane.

30

Hisqiyaas Jila Irra Dabaramaa Jilifate

¹ Hisqiyaas kolbaa Israa'eliitii fi Yihuda'aa maratti ergee, gosa Efreemiitii fi Minaase'eetitti xalayaa barreessee, gara Galma Mootii Waan Maraa ka Yersaalem keessaa dhufanee Jila Irra Dabaramaa ka Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii akka jilifatanuuf waame.

² Mootichii fi qondaaltoti isaa, gumiin Yersaalemii marti Jila Irra Dabaramaa ji'a lammeesso'oo keessa jilifatiisaaf wolii galane.

³ Laakkossi hayyoota ifi woyyoonsanee guutuu waan hin te'iniif, kolbaalle Yersaalemitti wolitti waan hin qabaminiif jila yenna'atti jilifatiisaaf hin dandeenne.

⁴ Mootichii fi gumiin marti karoora kanatti wolii galane.

⁵ Tanaan dura jila Irra Dabaramaa tana akka barreeffantetti bacatanee jilifatanee waan hin beenneef, lafa Israa'elii mara keessaa, Bersheeba'aa jalqabane haga Daaniititti lassii lassanee, namooti marti gara Yersaalemii dhufanee, Jila Irra Dabaramaa ta Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii akka jilifatanu murteeffatane.

⁶ Worri ergame xalayaa mootichaatii fi xalayaa qondaaltota isaa qabatane, akkuma mootichi ajajetti, lafa Israa'eliitii fi Yihuda'aa mara keessa deemane.

Xalayaan sun: «Ee kolbaa Israa'elii, gara Mootii Waan Maraa Waaqa Abrahaamii, Yisihaqiitii fi Israa'elii deebi'a'a; innille gara keessan gara worra lubbu'uun hafee harka mootota Asoorii jalaa bayee hin deebi'a.

⁷ Isin akka abbootii teessan ta duriitii fi akka gosa teessan worra Mootii Waan Maraa Waaqa abbootii ifii ta duriitiif hin addatanee hin te'ina'a; inni akkuma isin dhaggitanu waan hantuu nami dhaggee bararaqu isaan godhe.

⁸ Isin Mootii Waan Maraatiif ajajama'a malee akkuma abbootii teessanii ta durii mataa hin jabaatina'a! Gara addee woyyittii inni haga bara baraa woyyoonsee kowa'a! Aariin isaa ta bobeettu sun isin irraa akka deebitu Mootii Waan Maraa Waaqa keessan tajaajila'a!

⁹ Isin gara Mootii Waan Maraa yoo deebitane, Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan arja'aa fi mararaa waan te'eef, worri fira keessanii fi ijoollee teessan booji'e gadhaa laafee akka isaan gara biyya ifi deebi'anuu hin godhan. Isin gara isaa yoo deebitane innille fuula ifi isin irraa hin deebifatu» jedha.

¹⁰ Worri ergame sun biyya Efreemiitii fi Minaase'ee keessa qachaa kaan irraa gara qachaa kaanii dhaqanee haga biyya Zebuloonii deemane; kolbaan biyya sanii ammoo tuffi'ii fi murgoo'oon itti kollane.

¹¹ Te'uu malee gosa Asheerii, gosa Minaase'eetii fi Zebuloonii keessaa gariin gad ifi qabane gara Yerusaalemii dhufane.

¹² Biyya Yihuda'aa keessalle'etti kolbaan waan Mootichii fi gondaaltoti akka jecha Mootii Waan Maraatitti isaan ajajane gadhaa tokkochaan akka muummessanu Waaqi isaan qarqaare.

Jilti Irra Dabaramaa Jilifante

¹³ Ji'a lammeesso'ootitti jila daabboo uukoo hin qannee jilifatiisaaf kolbaan bacaan Yerusaalem keessatti wolitti qabante.

¹⁴ Isaan addee ciinca'aatii fi addee hixaana irratti aarsanu ta waaqota ormaa Yerusaalem keessaa bubuqqisane, dhooqa Qedroonii keessatti gatane.

¹⁵ Isaan ji'a lammeesso'oo guyyaa kudhanii arfeesso'ootitti buruusota hoole'ee Jila Irra Dabaramaatiif qalane; hayyootii fi Lewwooti waan ifi hin woyyoonsiniif qaanowane, ifi woyyoonsaneen duuba Galma Mootii Waan Maraa keessatti kennansa gubamu dhikeessane.

¹⁶ Achiin duuba isaan akkuma seera Muusee nama Waaqaatitti addee addee ifi qabatane; hayyootille dhiiga harka Lewwootaatii fuutee fiffixe.

¹⁷ Kolbaa san keessaa worri bacaan akka aadaa dhugeeffanna'aatitti qulqulluu waan hin te'iniif, Lewwooti worra ifi hin woyyoonsin saniif buruusota hoole'ee Jila Irra Dabaramaatiif qalane Mootii Waan Maraa duratti isaan woyyoonsane.

¹⁸ Ammalle, gosa Efreemii, gosa Minaase'ee, gosa Yisaakoriitii fi Zebuloonii keessaa worri bacaan akka aadaa dhugeeffanna'aatitti adoo ifi hin qulqulleessin foon buruusota hoolee Jila Irra Dabaramaa nyaatane; Hisqiyaasiin mootichi isaaniif daadimatee, «Ee Mootii Waan Maraa akkuma arjummaa teetiititti ati isaaniif araaram!

¹⁹ Akka aadaa dhugeeffanna'aatitti isaan qulqullummaa dhabanulle, worra Mootii Waan Maraa Waaqa abbootii ifi ta duriitiif ajajamu maraaf araaram!» jedhe.

²⁰ Mootiin Waan Maraa daadimata Hisqiyaasii dhage'e; inni kolbaa san fayyise; miidhaa tokkolle isaan gubbaa hin geessinne.

²¹ Lewwootii fi hayyooti meya faaru'uutiin bookarfamaa, guyyuma guyya'aan Mootii Waan Maraa leellifataa, gammada gudda'aan faarfataa, kolbaan Israa'elii ta Yerusaalemitti dhaggante guyyaa torba jila daabboo uukoo hin qannee jilifatane.

²² Hisqiyaasille Lewwoota waaqonfannaa Mootii Waan Maraa soressi isaan dandeettii guddoo mudhisane leellise; maarre kolbaan guyyaa torba qooda ifi nyaataa, kennansa tokkummaa'aa dhikeessaa, Mootii Waan Maraa Waaqa abbootii ifi ta durii galateeffatte.

²³ Achiin duuba gumiin marti guyyaa itti aanu torba jila jilifatiisaaf wolii galane. Maarre guyyaa dhibii torba gammadaan jilifatane.

²⁴ Mootiin Yihuda'aa Hisqiyaas dardaroota kuma tokko, hoole'ee fi re'ee kuma torba gumii saniif kenne; gondaaltotille dardaroota kuma tokko, hoole'ee fi re'ee kuma kudhan kennane; hayyooti bacaan akka aadaa dhugeeffanna'aatitti ifi woyyoonsane.

²⁵ Gumiin Yihuda'aa marti, hayyootii fi Lewwooti, kolbaan worri Israa'el keessaa dhufane marti, worri alagaan ka Israa'el keessa qubataneeranuu fi Yihudaa keessa qubataneeranuu marti gammadane.

²⁶ Bara ilmi Daawitii Solomoon biyya Israa'elii duudii irratti mootii te'ee irraa jalqabee haga ammaatitti jilti akkanaa Yerusaalem keessatti jilifantee waan hin beenneef, qachaa Yerusaalemii keessatti gammad guddaan te'e.

²⁷ Hayyootii fi Lewwooti ka'ane kolbaan akka eebbifantu daadimatane. Waaqille addee woyyittii ifii ta ol-gubba'aa irraa daadimata isaanii dhage'e.

31

Hisqiyaas Jiruu Dhugeeffanna'aa Haaresse

¹ Jilti Irra Dabaramaa hobbaateen duuba kolbaan Israa'elii marti gara qachaa Yihuda'aa mara dhaqanee utuboota dhaka'aa ka itti waaqonfatanu caccassanee, utuboota waaqota dharaa ta, «Asheeraa» jedhantuu jijjissanee, addee waaqonfanna'aatii fi addee ciinca'aa ta worra ormaa, biyya Yihuda'aa, biyya Beniyaaminii, biyya Efreemiitii fi biyya Minaase'ee mara keessaa balleessane. Isaan waan kana mara balleessaneen duuba gara qe'ee ifii deebi'ane.

² Hisqiyaasiin mootichi Hayyootaa fi Lewwoota kutaa kutaa isaaniitiin, akkuma hujii hujii isaaniititti irra deebi'ee ramade; isaan kennansa gubamuu fi kennansa tokkumma'aa dhikeessaa, Galma Waaqaa keessatti waaqonfataa, karra Galma Mootii Waan Maraa duratti faaru'uun leellifataa galatteessan.

³ Mootichi akkuma Seera Mootii Waan Maraa keessatti barreeffametti hoole'ee fi loon ifii keessaa kennansa gubamu ka galgalaa fi ganamaa, ka guyyaa sanbataa, ka guyyaa baatii ji'aatii fi ka guyyaa jila beekkanteetiifille kenne.

⁴ Akkasuma hayyootii fi Lewwooti guyyaa guutuu tajaajila Seera Mootii Waan Maraatiif akka ifi kennuu dande'anuu, kolbaan Yerusaalem keessa leetu gooda isaaniif murame akka isaanii fiddu ajaje.

⁵ Akkuma ajaji kennameen, kolbaan Israa'elii, midhaan mata'aa, daadhii woyni'ii haareya, zayitii ejersaa, damma akkasuma midhaan ficha'aa mara ka mata'aa jaalalaan fidane; waan qabanu mara irralle'ee kudhan keessaa tokko fidane.

⁶ Kolbaan Yihuda'aatii fi Israa'elii worri qachaa Yihuda'aa keessa le'u marti, loon, hoole'ee fi re'ee ifii keessaa kudhan keessaa tokko fidane; akkasuma waan Mootii Waan Maraa Waaqa ifitiif woyyoonsane irraa kudhan keessaa tokko fidanee tuulane.

⁷ Isaan kennansa kana ji'a sadeesso'oo keessa jalqabaneen ji'a torbeesso'ootitti fixane.

⁸ Hisqiyaasii fi qondaaltoti isaa dhufanee tuulaa tana yennaa dhaggane Mootii Waan Maraatiif fi kolbaa isaa kolbaa Israa'eliille leellisane.

⁹ Hisqiyaasiin mootichi marroo kennansa kanaa hayyootaa fi Lewwoota gaafate;

¹⁰ Maatii Zaadoqii keessaa hayyichi sooressi, Azaariyaan, «Kolbaan kennansa ifii gara Galma Mootii Waan Maraa fidiisa haga jalqaddee nyaannee quunnee bacaan nu irraa hafeera; Mootiin Waan Maraa kolbaa waan eebbiseef, wonni bacaan kun hafuu dande'e» jedhe.

¹¹ Hisqiyaas Galma Mootii Waan Maraa keessatti kolloo kuusaa meyyaa akka qopheessanu ajaje; isaanille akkuma inni ajaje godhane.

¹² Achiin duuba kennansa mara, kudhan keessaa tokko, kennansa woyyoo addatamumma'aan achi keessatti tuulane. Konaaniyaan sanyii

Lewwi'ii itti gaafatamaa mana meya mootumma'aa te'ee, obboleessi isaa Shime'i itti aanaa isaa te'e.

¹³ Konaaniya'aa fi Shime'i jala akka hujanuuf: Yehii'el, Azaziiyaan, Naa-haat, Asaa'el, Yeremoot, Yozaabaad, Elii'el, Ismaakiyaan, Mahaatii fi Benaaya'aan Hisqiyaasii mootichaa fi Azaariyaa hayyicha gudda'aan filamane.

¹⁴ Ilmi Imnaa Lewwichaa Qore, ka karra karaa aduun baatuu eegu, kennansa fedhii ifitiin Waaqaaf nami fidu fuudhee goodiisaaf itti gaafatamaa te'e.

¹⁵ Eden, Miniyaamiin, Yeshu'aan, Shemaa'iyaan, Amaariyaanii fi Shekaaniyaan qachaa hayyootaa keessatti hayyoota fira isaanii jaarsole'ee fi dargaggootaaf addatamumma'aan qooda isaanii hiriisaan Qore qarqaarane.

¹⁶ Itti dabalane dhiira worra akka hidda dhaloota isaaniititti galme-effamane, ka woggaan isaanii sadii fi sadii ol te'ane, worra akka hujii hujii isaaniititti itti gaafatamummaa isaaniititti hujii ifi hujiiisaaf gara Galma Mootii Waan Maraa dhaqanu maraaf hujii isaan hujanu itti qoqoodane.

¹⁷ Hayyoota worra akka hidda dhaloota isaaniititti galmeeffamanee fi Lewwoota worra woggaan isaanii diddamaatii fi diddamaa ol te'aneef akkuma hujii hujii isaaniitii fi itti gaafatamummaa isaaniititti hujii isaan hujanu itti qoqoode.

¹⁸ Isaan addatamumma'aan hujii'if waan ifi woyyoonsaneef, akka hidda dhaloota isaaniititti haadhotii manaa ta ifii, ijoollee ifi, ta dhiiraatii fi ta durraa mara waliin galmeeffamane.

¹⁹ Hayyoota qachaa sanyii Aaroniitiif ramadamane keessa yookiin lafa marraa ta qachaa saniif ramadamane keessa le'anuu, worra maqaan isaanii sanyii Lewwootaa keessatti galmeeffame worra dhiiraa maraaf, qooda isaan gewu akka isaaniif kennanu, namoota itti gaafatamanu filaneef.

²⁰ Hisqiyaasiin mootichi lafa Yihuda'aa mara keessatti waan Mootii Waan Maraa Waaqa isaa duratti sirrii te'ee fi waan addatamumma'aa hujee.

²¹ Inni Galma Mootii Waan Maraa tajaajiliisaan, seeraa fi ajaja eegatiisaan waan hujee mara gadhaa tokkochaan, Waaqa barbaadatiisaan hujee, wonni marti isaaf teete.

32

Worri Asoorii Yerusaalemitti Duule (2 Mot. 18:13-16; Isa. 36:1)

¹ Hisqiyaas waan kana mara addatamumma'aan hujee fixeen duuba, mootiin Asoorii Senaaheriib Yihuda'atti duulee, injifatee ka ifi godhatiisa hedee qachoota dalleya dhaka'aa qabanu marse.

² Senaaheriib Yerusaalem loliisaaf hedee akka dhufeeru, Hisqiyaas yenna beke,

³ inni madda bisaanii ka qacha'aan ala jiranu duuchiisiisaaf, qondaaltotaa fi ajajjoota loltoota ifi waliin mari'ate; isaanille isa qarqaarane.

⁴ Kolbaan hedduun wolitti qabantee, «Mootiin Asoorii dhufee maaf bisaan bacaa dhaggata» jedhanee, madda bisaanii maraa fi anguree lafa jala lola'u mara duuchane.

⁵ Hisqiyaasiin mootichi jabaatee hujee, dalleya dhaka'aa ka caccabe deebisee haaressee, xelleephoo irratti ijaare; gara alaatiin dalleya dhaka'aa dhibii itti ijaaree kaabii, «Miiloo» jedhantu ta qachaa Daawitii keessaalle jabeesse; akkasuma meya lolaa ka adda addaatiif fi wontee bacaa hujee.

⁶ Qondaaltoti loltootaa kolbaa akka bulchanu godhee, isaan mara badhinna karra qacha'aa dura jirutti wolitti qabee,

⁷ «Jabaadha'a! Jajjabaadha'a! Hunna guddoo isa woliin jirtu caalaa, ta nu woliin jirtu waan caaltuuf, mootii Asooriitii fi loltoota isa woliin jirtu bacaa tana sodaattanee hin nayina'a!

⁸ Isa woliin loltoota namaatitti jira; nu woliin ammoo nu qargaariisaa fi nu'uuf loliisaaf, Mootii Waan Maraa Waaqa keennatti jira» jedhe. Kolbaalle dubbii mootiin Yihuda'aa Hisqiyaas dubbatteen jajjabaatte.

⁹ Tanaan duuba, mootiin Asoorii Senaaheriib loltoota ifii mara woliin qachaa Laakiishii marsee adoo jiruu, Hisqiyaasii fi kolbaa Yihuda'aa ta isa woliin Yersaalem keessa jirtu maratti akka himanuuf tajaajiltoota ifii ergee,

¹⁰ isaanille dhaqanee, «Mootiin Asoorii Senaaheriib, «Isin eennutti addattanee qachaa Yersaalemii ka marfame kana keessa teettan?

¹¹ Hisqiyaas: Mootiin Waan Maraa Waaqi keenna harka mootii Asoorii jalaa nu hin baasa jedhee beelaa fi dheebu'uun isin fixaara.

¹² Kolbaa Yihuda'aatii fi kolbaa Yersaalemiitiin: Addee ciinca'aa takkatii duratti sagada'aatii isii irratti ciincaa dhikeessa'a jedhee ajajee addee waaqonfanna'aatii fi addee ciinca'aa ka balleesse Hisqiyaasuma kanaa motii?

¹³ Anii fi abbootiin tiyya ta durii kolbaa lafa dhibi'ii irratti waan goone hin beettanuu ree? Waaqoti gosa biyya adda addaa sun lafa isaanii harka kiyya jalaa baasuu dande'aneeranii ree?

¹⁴ Waaqota gosa biyya adda addaa ka abbootiin tiyya ta durii balleessite mara keessaa kolbaa ifii harka kiyya jalaa baasuu ka dande'e kam ree? Waaqi keessan harka kiyya jalaa attam isin baasuu dande'a ree?

¹⁵ Tanaaf, amma, akka kanaan Hisqiyaas isin hin sobin yookiin isin hin dokonkorsin; Waaqi gosa biyya adda addaa yookiin ka mootummaa kamiille kolbaa ifii harka kiyya jalaa yookiin harka abbootii tiyyaa jalaa baasuu ka dande'e waan hin jirreef, isa hin addatina'a! Waaqi keessanille akkasuma harka kiyya jalaa isin baasuu hin dande'u» jedha» jedhane.

¹⁶ Tajaajiltooti Senaaheriibii Mootii Waan Maraa Waaqaa fi tajaajilaa isaa Hisqiyaas irratti dubbii badduu tana caalte dubbatane.

¹⁷ Mootichille akkasuma Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii arrassiisaan, «Waaqoti gosa biyya adda addaa ka dhibiin kolbaa ifii harka kiyya jalaa baasuu akkuma hin dandeenne, Waaqi Hisqiyaasille kolbaa ifii harka kiyya jalaa baasuu hin dande'u» jedhee xalayaa barreesse.

¹⁸ Achiin duuba tajaajiltooti mootichaa kolbaa sodaachisane bararasane qachaa qabatiisaaf, kolbaa Yersaalemii worra dalleya dhaka'aa irra dhaabbataneeranu qoonqoo ifii ol qabatane afaan Ibrootaatiin itti hogisane.

¹⁹ Waaqota kolbaa lafa irraa ka harki namaa huje irratti akkuma dubbatane, Waaqa Israa'elii irralle'etti akkasuma dubbatane.

²⁰ Achiin duuba Hisqiyaasiin mootichii fi ilmi Amosii Isaayaasiin raagichi marroo dubbii tanaa gara Mootii Waan Maraa daadimatane, gara ol-gubba'aa iyyane.

²¹ Mootiin Waan Maraa ergamaa ifii ergee, addee quttuma mootii Asoorii keessaa loltoota jajjaba, sooressitootaa fi qondaaltota mara akka fixamanu godhe. Maarre mootichi Senaaheriib qaanowee gara biyya ifii deebi'e. Yenna inni gara galma waaqa ifii seenelle ilmaan isaatu achitti shallaaga'aan isa ijeette.

²² Maarre Mootiin Waan Maraa Hisqiyaasii fi kolbaa Yersaalemii harka mootii Asoorii Senaaheriibiitii fi harka diinota isaa mara jalaa isaan baase; worra adaala isaanii jiranu mara woliin nageyaan akka le'anu isaan godhe.

²³ Kolbaan bacaan Mootii Waan Maraatiif kennansa fidanee gara Yersaaleemii dhufanee, mootii Yihuda'aa Hisqiyaasiifille kennansa gatii guddo'oo fidanee, guyyaa saniin jalqabee inni gosa biyya adda addaa mara duratti ulfinna dhaggate.

Muummee Mootummaa Hisqiyaasii

(2 Mot. 20:1-3,12-19; Isa. 38:1-3; 39:1-8)

²⁴ Baruma san Hisqiyaas dhibamee du'iisa geye; inni gara Mootii Waan Maraa daadimatee, Mootiin Waan Maraalle deebii isaaf kenne; akka isa fayyisulle beessisa isaaf kenne.

²⁵ Hisqiyaas ammoo koore malee waan dansaa isaaf godhameef Waaqa hin galateeffanne. Tanaaf, mufiin Mootii Waan Maraa isa irratti, kolbaa Yihuda'aatii fi Yersaaleemii irratti dhutte.

²⁶ Te'uu malee marroo koora ifitiif, Hisqiyaas gad ifi qabee, innii fi kolbaan Yersaaleemiille gad ifi qabane, tanaaf bara mootummaa isaa mufiin Mootii Waan Maraa isaan irratti hin dhunne.

²⁷ Hisqiyaas qabeennaa fi ulfinna guddaa qabaayyu; inni kolloota meetii, worqii, dhakaa gatii guddo'oo, uddowaa adda addaa, wonte'ee fi meya gatii guddo'oo ka adda addaa itti kuufatu ijaarrate.

²⁸ Akkasuma gootaraa midhaan ficha'aa, okkotee daadhii woyni'itii fi zayitii ejersaa qabaayyu; loon ifitiif moonaa, hoole'ee fi re'ee ifitiif gooree qabaayyu.

²⁹ Waan kana mara irratti ede'ee, Mootiin Waan Maraa qabeenna bacaa waan isaa kenneef, inni karra hoole'ee, re'e'eetii fi loonii bacaalle horatee, qachaa hedduu ijaarrate.

³⁰ Madda Giihonii maddu ka gatiitti'ii kiphee, bisaan gara seensa adu'uu gara qachaa Daawitii anguree keessa gad akka lola'u ka godhe Hisqiyaas; hujiin isaa marti isaaf teete.

³¹ Qondaaltoti biyya Baabilonii baasa biyya keessatti te'e gaafatiisaaf namoota yennaa ergane, Waaqi isa haga ilaaliisaa fi waan gadhaa isaa keessa jiru mara beekiisaaf isa lakkise.

³² Wonni dhibiin ta Hisqiyaasiin mootichi hujee fi hujiin inni adda-mumma'aan huje, mudhii raagicha Isaayaasii ilma Amosiitii fi kitaaba dabarsii mootota Israa'eliitii fi Yihuda'aa keessatti barreeffanteerti.

³³ Hisqiyaas du'ee addee awwaala sanyii Daawitii ta gatiitti'ititti awwaalame; yennaa inni du'e kolbaan Yihuda'aatii fi Yersaaleemii marti ulfinnaan isa awwaalane; ilmi isaa Minaaseen addee isaatitti mootii te'e.

33

Mootii Yihuda'aa Minaasee

¹ Minaaseen yennaa mootii te'e nama woggaa kudhanii lamaa ti; inni Yersaaleem keessa tee'ee woggaa shantamii shan bulche.

² Inni hujii diqachiittuu gosa biyya adda addaa ta Mootiin Waan Maraa kolbaa Israa'elii duraa ari'ee baasee san hordofee Mootii Waan Maraa duratti cubbuu huje.

³ Inni addee waaqonfanna'aa, ta abbaan isaa Hisqiyaas diige deebisee ijaare; Ba'aaliifille addee ciinca'aa ijaaree, utubaa waaqa dharaa ta, «Asheeraa» jedhantuu dhaabe. Inni urjootalle waaqonfate.

⁴ Inni Galma Mootii Waan Maraa keessatti addee Mootiin Waan Maraa, «Maqaan kiyaa haga bara baraa Yersaaleem keessatti hin waaqonfatama» jedhetti, addee ciinca'aa ta worra Waaqa hin beennee ijaare.

⁵ Badhinna dalleya keessaa ka Galma Mootii Waan Maraa lamaanuu keessatti urjoota ol-gubba'aa waaqonfatiisaaf addee ciinca'aa ijaare.

⁶ Inni dhooqa ilma Hiinomii keessatti ilmaan ifii kennansa gubamu godhee dhikeessee, worra moru, worra xanoo xanu, worra ekeraa dubbisiisuu fi worra moora ilaalu morsiifatee, Mootii Waan Maraa duratti cubbuu guddit-tii hujee aarii isaa kakkaase.

⁷ Inni fakkii waaqa dharaa ka qiriixee huje san fuudhee, Galma Waaqaa ka Waaqi Daawitii fi ilma isaa Solomooniin, «Ani Galma kana keessatti, Yerusaalem lafa gosa Israa'elii mara keessaa addee filadhe tana keessatti, haga bara baraa maqaa kiyya keessa hin keya;

⁸ kolbaan Israa'elii seerata kiyya yoo eegatte, seera tajaajilaan kiyya Muuseen isaaniif kenne duudiille yoo eegatte, lafa ani abbootii isaanii ta duriitiif kenne keessaa bayanee akka isaan ari'amanu deebi'ee hin godhu» jedhe san keessa keye.

⁹ Minaaseen ammoo kolbaa Yihuda'aatii fi Yerusaalemii dokonkorsee, isaan gosa biyya adda addaa ta Mootiin Waan Maraa kolbaa ifii duraa ari'ee baase caalaa cubbuu hujane.

¹⁰ Mootiin Waan Maraa Minaase'ee fi kolbaa ifiititti dubbatulle, isaan ammoo caqasuu didane.

¹¹ Maarre Mootii Waan Maraa ajajjoota loltoota mootii Asoorii isaanitti fidee, isaan Minaasee qabane, hookkoo sagana'aa funnaan isaa keessa keyanee, harka isaa wodaroo sageettu'uutiin hidhane gara Baabilonii isa geessane.

¹² Minaaseen rakkinna kana keessa adoo jiruu, gad ifi qabee, gara Mootii Waan Maraa Waaqa ifii deebi'ee, qarqaarsa isa gaafate.

¹³ Mootiin Waan Maraa daadimata isaa dhage'eefii, gara Yerusaalemii mootummaa isaatitti isa deebise; Minaaseelle Mootiin Waan Maraa Waaqa akka te'e beeke.

¹⁴ Tanaan duuba Minaaseen dalleya dhaka'aa ka qachaa Daawitii ka gara alaa dhooqa madda Giihonii ka gara aduun baatuutii kaasee haga seensuma «Karra qurxummi'ii» jedhantuu, kooba Ofeeliititti marsee dalleya dhaka'aa hojjaa itti dabalee ijaare; qachoota Yihuda'aa ka dalleya dhaka'aa qabu mara qondaaltota loltootaa keessa keye.

¹⁵ Inni Galma Mootii Waan Maraa keessaa Waaqota ormaa fi fakkii achi keessa jirtu balleessee, addee ciinca'aa ta worra Waaqa hin beennee ta kooba irra addee Galmi Mootii Waan Maraa dhaabbate keye, Yerusaalem keessa ta addee dhibiille jirtu diigee qacha'aan alatti gate.

¹⁶ Achiin duuba addee ciinca'aa ta Mootii Waan Maraa haaressee ijaaree, isii irratti kennansa tokkumma'aatii fi kennansa galataa dhikeesse; kolbaan Yihuda'aalle Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii akka waaqonfattu ajaje.

¹⁷ Kolbaan addee waaqonfanna'aa irratti ciincaa dhikeessitulle, Mootii Waan Maraa Waaqa ifii qofaaf dhikeessite.

¹⁸ Wonni dhibiin ta Minaaseen huje, daadimati inni Waaqa ifii daadimatee fi ergaan raagoti maqaa Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'eliitiin dubbatane kitaaba dabarsii mootota Israa'elii keessatti barreeffanteerti.

¹⁹ Minaaseen mootichi daadimatee deebiin Waaqi daadimata isaatiif kenne, adoo cubbuu irraa hin deebi'in dura cubbuun inni hujee fi ka hin addatanne te'uun isaa marti, addee waaqonfanna'aa irratti utubaa waaqota dharaa ta, «Asheeraa» jedhantuu fi fakkiin waaqota dharaa ta inni dhaabe marti, kitaaba raagota Israa'elii irratti barreeffanteerti.

²⁰ Minaaseen du'ee mana mootumma'aa ka ifii keessatti awwaalame; ilmi isaa Amooni addee isaatitti mootii te'e.

Mootii Yihuda'aa Amooni

²¹ Amooni yennaa mootii te'e nama woggaa diddamii lamaa ti; inni Yerusaalem keessa tee'ee woggaa lama bulche.

²² Akkuma abbaa ifii Minaase'ee Mootii Waan Maraa duratti cubbuu hujee, waaqota dharaa ka abbaan isaa waaqonfate innille waaqonfate.

²³ Amooni akka abbaan isaa Minaaseen Mootii Waan Maraa duratti ifi gad qabe, gad ifi hin qanne. Inni yakkaa abbaan isaa huje caala'aayyuu huje.

²⁴ Tajaajiltooti Amoonii mala isatti dhowanee mana mootumma'aa ka isaa keessatti isa ijjeesane.

²⁵ Achiin duuba kolbaan lafa sanii worra Amooni irratti mala dhowe mara ijjeesane, addee isaatitti ilma isaa Yosiyaas mootii godhane.

34

Mootii Yihuda'aa Yosiyaas

¹ Yosiyaas yennaa mootii te'e nama woggaa saddeetii ti; inni Yerusaalem keessa tee'ee woggaa soddonii tokko bulche.

² Yosiyaas Mootii Waan Maraa duratti waan sirrii te'e hujee; inni karaa abbaa abbootii ifii ta durii ka Daawitii middaa fi bitaa adoo irraa hin gorin mara hordofe.

³ Yosiyaas mootii te'ee woggaa saddeetesso'ootitti, adoo ijoollichaatuu Waaqa Daawitii ka abbaa abbootii ifii ta durii barbaadatiisa jalqabe. Woggaa kudhanii lammeesso'ootitti Yihuda'aa fi Yerusaalem qulqulleessiisaaf addee waaqonfanna'aa, utuboota waaqa dharaa ta, «Asheeraa» jedhantuu, waaqota dharaa ka dhibiille balleessiisa jalqabe.

⁴ Ajaja isaatiin addee waaqota dharaa Ba'aaliif ciincaa itti dhikeessanu butuchanee, addee ciinca'aa ta hixaanaa ta achi bira jirtulle jissane. Isaan fakkii waaqa dharaa ta, «Asheeraa» jedhantuutii fi ta waaqota dharaa ka dhibi'iille lafatti gad jissanee, bulleessanee, bukuu san awwaala worra waaqota dharaa saniif ciincaa dhikeessanee irratti bittinneessane.

⁵ Inni lafee hayyoota sanii addee isaan ciincaa itti dhikeessanu irratti gubee Yihuda'aa fi Yerusaalem qulqulleesse.

⁶ Qachaa lafa Minaase'ee, lafa Efreemiitii fi lafa Shimi'ooniitii haga qachaa lafa Niftaalemiititti, haga bututa adaala qachoota kana jiranuutitti,

⁷ addee ciinca'aatii fi utuboota waaqa dharaa ta, «Asheeraa» jedhantuu diige; inni fakkii waaqota dharaa bulleessee, addee ciincaa hixaanaa ta biyya Israa'elii keessa jirtu mara butuchee, achiin duuba gara Yerusaalemii deebi'e.

Kitaab Seeraa Dhaggame (2 Mot. 2:3-20)

⁸ Yosiyaas mootii te'ee woggaa kudhanii saddeetesso'ootitti, biyyaa fi Galma qulqulleeseen duuba, Galma Mootii Waan Maraa ka Waaqa isaa deebisane akka haareessanu ilma Azaaliya'aa Shaafaan, ilma bulchaa qacha'aa Ma'aseya'aa fi ilma Yo'aahaazii barreessa'aa Yo'aak erge.

⁹ Isaanille gara Hilqiyaa hayyicha gudda'aa dhaqanee, beesee Galma Waaqaatiif worri Lewwootaa ka karra eeganu kolbaa Minaase'ee irraa, kolbaa Efreemiitii fi kolbaa Israa'elii worra baraaree hafane mara irraa, kolbaa Yihuda'aa mara irraa, kolbaa Beniyaaminiitii fi kolbaa Yerusaalem keessa leetu mara irraa guurane itti kennane.

¹⁰ Achiin duuba isaan itti gaafatantoota hujii Galma Mootii Waan Maraatiitti kennane; isaanille beesee san worra Galma Mootii Waan Maraa haareessee adde'etti deebisuuf kaffalane.

¹¹ Akkasuma ijaarsa dhaka'aa gugurdaa ka moototi Yihuda'aa akka di-igamu godhane deebisanee haareessanee ijaariisaaf, dhakaa bocamee fi muka isa ittiin wol irra qaxxaamursanee jabeessanuu fi utuboota akka ittiin bitanu worra muka bocuu fi worra dhaka'aan mana ijaarutti kennane.

¹² Namooti sun addatamumma'aan hujii san hujane; isaan irratti itti gaafatantoota worri te'ane Lewwoota sanyii Meraarii keessaa Yaahaatiitii fi Obaadiya'a; sanyii Qehaatotaa keessaa Zakaariyaasii fi Meshulaam. Lewwoota keessaa worri meya faaru'uu dhowiisaan qarummaa qabanu,

¹³ worra ba'aa ba'atanuu fi worra hujii adda addaatitti ramadamane toowataniyyu; Lewwooti gariin barreessitoota, gariin qondaaltota, gariin eeddota karraa ti.

¹⁴ Isaan beesee gara Galma Mootii Waan Maraa fidane san baasiisatti adoo jiranuu, Hilqiiyaan hayyichi Kitaaba Seera Mootii Waan Maraa ka karaa Muuse'eetiin kenname tokko dhagge.

¹⁵ Achiin duuba Hilqiiyaan, Shaafaanii barreessa'aan, «Ani kitaaba Seeraa Galma Mootii Waan Maraa keessatti dhagge» jedhee, kitaaba san Shaafaanitti kenne.

¹⁶ Shaafaanille kitaaba san gara mootichaa geessee, mootichaan, «Kunoo, tajaajiltooti teeti waan ati ajajje mara hujjisatti jiran.

¹⁷ Isaan beesee Galma Mootii Waan Maraa keessaa fuudhanee itti gaafatantootaa fi hojjatootatti kennaneeran» jedhe.

¹⁸ Achiin duuba barreessaan Shaafaan, «Hilqiiyaan hayyichi kitaaba natti kenneera» jedhee, mootichatti himee, kitaaba san keessaa mooticha duratti dubbise.

¹⁹ Mootichi jechoota seeraa yennaa dhage'e gaddaan woyaa ifii tarsaase.

²⁰ Achiin duuba Hilqiiyaa, ilma Shaafaanii Ahiqaam, ilma Miikiyaasii Abdoon, Shaafaanii barreessa'aa fi tajaajilaa mootichaa Asaayaa ajajee,

²¹ «Dhaqa'aatii, waan kiyya, waan worra Yihuda'aa fi Israa'el keessatti baraaree hafee waan Kitaaba Seeraa ka dhaggame kana keessatti barreeffamee Mootii Waan Maraa gaafadha'a; abbootiin teenna ta durii jecha Mootii Waan Maraa waan hin eegatiniif, waan kitaaba Seeraa kana keessatti barreeffameefille waan hin ajajaminiif, mufiin Mootii Waan Maraa nu irratti dhangalaateerti» jedhe.

²² Hilqiiya'aa fi namooti mootichi isa woliin erge sun gara raagittii, «Huldaa» jedhantuu dhaqanee isi'itti himane; isiin haadha manaa Shaalumii ilma Toqihatii, ka akaakoo Hasiraa, ka woyaa mootichaa eegu ti; isiin qachaa Yersaaleemii kutaa lammeesso'oo keessa leetiyyu.

²³ Isiin isaaniin, «Namicha gara kiyya isin erge kanaan: Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii,

²⁴ «Kunoo, ani Mootiin Waan Maraa balaa abaarsa kitaaba mootii Yihuda'aa duratti dubbifame keessatti barreeffame mara, addee tanaa fi kolbaa addee tana keessa jiranu irratti hin fida.

²⁵ Isaan na lakkisanee waaqota dhibi'iif hixaana waan aarsaneef, waan harki isaanii huje maraan tuttuqanee waan na aarsaneef, mufiin tiyya ta addee tana irratti dhangalaate hin dhaantu» jedha.

²⁶ Mooticha Yihuda'aa ka Mootii Waan Maraa gaafatiisaaf gara kiyya isin ergeen: Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii waan jecha dhageetteetiif,

²⁷ «Addee tanaa fi kolbaa addee tana keessa jirtu irratti jecha dubbatame yennaa dhageette, gadhaan keeti tuqamee, ifi gad qaddee, woyaa teetii tarsaattee, ana Mootii Waan Maraa duratti waan bootteef, anille si'iif dhage'eera.

²⁸ Kunoo, ati duutee abbootii teeti ta durii biratti nageyaan akka awwaalantu hin godha; addee tanaa fi kolbaa addee tana keessa jirtu irratti balaa ani fidu mara ilti teeti hin dhaggitu» jedha» jette; worri ergamane sunille deebi'anee deebii isiin kennite mara mootichatti himane.

²⁹ Achiin duuba Yosiyaasiin mootichi jaarsolee Yihuda'aatii fi Yersaaleemii mara wolitti qabee,

³⁰ kolbaa Yihuda'aa, kolbaa Yersaaleem keessa leetu, hayyootaa fi Lewwoota mara, kolbaa mara diqqa'aa fi guddaa waliin gara Galma Mootii Waan Maraa ol baye. Inni jecha Kitaaba Gondooro'oo ka Galma Mootii Waan Maraa keessatti dhaggamee san mara kolba'aaf dubbise;

³¹ Mootichi Mootii Waan Maraa hordofiisaaf ajaja isaa, seerata isaatii fi seera isaa gadhaa tokkochaan, lubbuu ifii takkatti'iin eegatiisaaf, Gondooroo kitaaba kana keessatti barreenfantelle'eef ajajamiisaaf, utubaa ifii bira dhaabbatee Mootii Waan Maraa duratti gondooroo godhe.

³² Achiin duuba namooti Yersaaleemii fi lafa Beniyaaminii keessaa dhufane marti Gondooroo tanatti akka wolii galanu godhe; namooti Yersaaleemii akkuma Waaqi abbootii isaanii ta durii isaan ajajetti Gondooroo tana muummessane.

³³ Mootichi Yosiyaasille waaqota dharaa diqachiisaa mara biyya Israa'elii mara keessaa balleessee, namooti Israa'el keessatti dhaggamanu marti Mootii Waan Maraa Waaqa ifii akka Waaqonfatanu godhe. Haga inni lubbu'uun jiru isaan Mootii Waan Maraa Waaqa abbootii ifii ta durii tajaajiliisa irraa duubatti hin deebine.

35

Yosiyaas Jila Irra Dabaramaa Jilise

¹ Yosiyaas Yersaaleem keessatti Mootii Waan Maraatiif Jila Irra Dabaramaa jilise. Ji'a tokkeesso'oo, guyyaa kudhanii arfeesso'ootitti hoolichi Jila Irra Dabaramaa qalame.

² Inni Galma Mootii Waan Maraa keessa akka tajaajilanuuf hayyoota jajjabeessee, hujii hujii isaaniititti isaan ramade.

³ Lewwoota worra Israa'eloota mara barsiisanuu fi worra Mootii Waan Maraatiif woyyoomeen, «Saanduqa Gondooro'oo woyyittii ta Mootii Waan Maraa, Galma Mootii Waan Maraa ka ilmi Daawitii, mootiin Israa'elii Solomoon ijaare keessa keya'a malee, gurmoo teessan irratti hin ba'atina'a! Ammalle Mootii Waan Maraa Waaqa keessanii fi kolbaa isaa Israa'el tajaajila'a!

⁴ Akkuma seera mootiin Israa'elii Daawitii fi ilmi isaa Solomoon barreessiisaan seera isinii dhaabanetti, akka maatii maatii abbootii teessaniititti kutaa kuta'aan tajaajilaaf qophowa'a.

⁵ Akka maatii maatii abbootii kolba'aa, obboleeyyan teessan worra kaaniititti, akka kutaa kutaa maatii abbootii Lewwootaatitti, addee woyyittii dhaabbadha'a.

⁶ Ifi woyyoonsa'aatii hoolee Jila Irra Dabaramaa qala'a; akkuma Mootiin Waan Maraa karaa Muuse'eetiin ajaje, hoolee qalame san fira keessan kolbaa Israa'eliitiif qopheessa'a» jedhe.

⁷ Achiin duuba Yosiyaasiin mootichi Jila Irra Dabaramaatiif, loon ifii irraa, tika hoole'ee fi re'ee ifii irraa buruusoo korbeeyyii hoole'eetii fi supheelee re'e'ee kuma soddoma, dardaroota kuma sad kolbaa achitti wolitti qabante san maraaf kenne.

⁸ Sooreessitooti isaalle fedha ifitiin kolba'aaf, hayyootaa fi Lewwootaaf kennane. Sooreyyiin Galma Waaqaa Hilqiyaan, Zakaariyaasii fi Yehii'el

kennansa Jila Irra Dabaramaatiif dhikaatu hoole'ee fi re'ee'e kuma lamaa fi dhibba jaa, loon dhibba sad kennane.

⁹ Qondaaltoti Lewwootaa Konaaniya'aa fi obboleeyyan isaa Shemaa'iyaa fi Nataani'el, akkasuma Hashabiiyaan, Yeyi'elii fi Yozaabaad kennansa Jila Irra Dabaramaatiif hoole'ee fi re'ee'e kuma shan, loon dhibba shan Lewwootaaf kennane.

¹⁰ Hujiin marti yennaa qophootte akkuma mootichi ajajetti hayyooti addee ifiititti, Lewwootille addee addee ifii qabatanee tajaajilaaf dhaabbatane.

¹¹ Hooloti Jila Irra Dabaramaa gorra'amanee, Lewwooti gogaa irraa baasiisatti adoo jiranuu, hayyooti dhiiga hoolotaa ka fuudhane san fiffixxe.

¹² Akkuma kitaaba Muuse'ee keessatti barreeffametti, kennansa gubamu Mootii Waan Maraatiif akka dhikeessanu, akka maatii maatii abbootii isaaniititti kolba'aaf kenniisaaf adda baasane; dardaroota looniille akka-suma godhane.

¹³ Lewwooti akkuma ajajamanetti hoolee Jila Irra Dabaramaa san wod-dane; kennansa woyyicha san okkote'etti, ibido'oo fi disti'itti iffeelanee ariiti'iin kolba'aaf geessane.

¹⁴ Duubarra ifiif, hayyootaafille qopheessane; hayyooti sanyii Aaronii kennansa gubamuu fi cooma ciinceffamu haga galgalaatitti dhikeessaa waan turanuuf, Lewwooti ifii fi hayyoota sanyii Aaroniitiif kennansa Jila Irra dabaramaa qopheessane.

¹⁵ Faarsitooti sanyiin Asaafii akkuma Daawiti, Asaafi, Hemaanii fi Yedu-tuun raagichi mootichaa isaan ajajanetti addee ifii dhaabbatane; firri isaanii Lewwooti waan isaaniif barbaachisu waan isaaniif qopheessaneef, eeddoti karraa ta karra tokko tokko bira jiranu addee addee ifii hin lakkinne.

¹⁶ Maarre Jila Irra Dabaramaa jilifatiisaan, kennansa gubamu addee ciinca'aa irratti Mootii Waan Maraatiif dhikeessiisaan, akkuma mootichi Yosiyaas ajajetti hujiin Mootii Waan Maraa marti guyyuma san muummotte.

¹⁷ Yennaa san Israa'elooti addee sanitti dhaggamane Jila Irra Dabaramaa jilifatane; jila daabboo uukoo hin qanneelle guyyaa torba jilifatane.

¹⁸ Bara Saamu'elii raagichaatii jalqabanee Israa'el keessatti jila Irra Dabaramaa ta akka kanaa jilifantee hin beekanu; mootota Israa'elii keessa mootichi Yosiyaas hayyoota, Lewwoota, Yihudootaa fi Israa'eloota mara, kol-baa Yersaaleemii worra addee sanitti dhaggamane woliin Jila Irra Dabara-maa ta akka kanaa jilifatane hin beekanu.

¹⁹ Jilti Irra Dabaramaa tun Yosiyaas mootii te'ee woggaa kudhanii sad-deetesso'ootitti jilifante.

Yosiyaas Ijjeefame

²⁰ Yosiyaas waan kana mara Galma Waaqaatiif hujeen duuba, mootiin Gibxi'ii Nekoon qachaa Karkemiishii ka laga Efraaxiisii biraatitti isa loliisaaf duule; Yosiyaasille isa loliisaaf baye.

²¹ Nekoon ammoo namoota isatti ergee, «Ee mootii Yihuda'aa! Anii fi ati maaf wol lolla? Ani diinota kiyya loliisaaf dhufe malee si loliisaafii moti; Waaqi akka ani ariifadhu na ajajeera, akka inni si hin balleessine Waaqa na woliin jiru kana hin mormin» jedhe.

²² Yosiyaas ammoo nama dhibii fakkaatee isa loliisaaf baye malee duu-batti hin deebine; dirree Megidootitti isa loliisaaf dhage malee waan ajaja Waaqaatiin Nekoon isatti hime hin caganne.

²³ Worri guube'een lolu daayaan mooticha Yosiyaas woraane; innille tajaajiltoota ifitiin, «Ani akka malee madoweera, na fuudha'aa deema'a» jedhe.

²⁴ Maarre tajaajiltooti isaa sun garreettaa fardaan harkifamu ka isaa irraa isa buusanee, garreettaa isaa ka fardaan harkifamu ka dhibii keessa keyanee gara Yersaaleemii isa geessane. Inni achumatti du'ee addee awwaala abbootii ifii ta duriititti awwaalame. Kolbaan Yihuda'aatii fi kolbaan Yersaaleemii marti Yosiyaasiif bowane.

²⁵ Ermiyaasille faaruu gaddaa Yosiyaasiif baase; haga adhaalle faarfattooti dhiiraatii fi dubartootaa marti faaruu gaddaa ta ifii keessatti waan Yosiyaasii dubbatan. Wonni kun Israa'el keessatti akka seerataa teetee kitaabota wolaloo gaddaa keessatti barreeffanteerti.

²⁶ Akkuma seera Mootii Waan Maraa keessatti barreeffametti wonni dhibiin ta mootichi Yosiyaas hujee fi hujiin isaa ta jaalala bara baraa,

²⁷ hujiin isaa jalqabaa kaasee haga dhumaatti kitaaba dabarsii mootota Israa'eliitii fi Yihuda'aa keessatti barreeffanteerti.

36

Mootii Yihuda'aa Yeho'ahaaz (2 Mot. 23:30-35)

¹ Kolbaan Yihuda'aa ilma Yosiyaasii Yeho'ahaaz fuudhanee addee abbaa isaatitti Yersaaleem keessatti mootii godhane.

² Yeho'ahaaz yennaa mootii te'u nama woggaa diddamii sadii ti; inni Yersaaleem keessa tee'ee ji'a sad bulche.

³ Achiin duuba mootiin Gibxi'ii barcumaa mootumma'aa ka Yersaaleem jiru irraa isa buusee, kolbaan Yihuda'aa meetii kiiloogiraama kuma sadii fi dhibba afur; worqii kiiloogiraamii soddonii afur gibira itti mure.

⁴ Mootiin Gibxi'ii Nekoon obboleessa Yeho'ahaazii Eliyaaqim Yersaaleemii fi Yihudaa irratti mootii godhee, maqaa isaalle jijjiiree «Yehoyaaqim» jedhe. Obboleessa Eliyaaqimii Yeho'ahaaz ammoo gara Gibxi'ii geesse.

⁵ Yehoyaaqim yennaa Yihudaa irratti mootii te'e nama woggaa diddamii shanii ti; inni Yersaaleem keessa tee'ee woggaa kudhanii tokko bulche. Inni Mootii Waan Maraa Waaqa ifii duratti waan hantuu huje.

⁶ Mootiin Baabilonii Nebukadnezaar Yihuda'atti duulee Yehoyaaqim qabee gara Baabilonii isa geessiisaaf haachaba sageettu'uutiin hidhe.

⁷ Nebukadnezaar meya Galma Mootii Waan Maraa garii fuudhee mana mootummaa ifii ka Baabilon keessaa keessa keyate.

⁸ Wonni dhibiin ta mootichi Yehoyaaqim huje, wonni diqachiittuun inni hujee fi wonni hantuun isatti dhufe marti kitaaba dabarsii mootota Israa'eliitii fi mootota Yihuda'aa keessatti barreeffanteerti; ilmi isaa Yehoyaaqiin addee isaatitti mootii te'e.

Mootii Yihuda'aa Yehoyaaqiin (2 Mot. 24:8-17)

⁹ Yehoyaaqiin yennaa mootii te'e nama woggaa kudhanii saddeetii ti*; inni Yersaaleem keessa tee'ee ji'a sadii fi guyyaa kudhan bulche; innille Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu huje.

¹⁰ Woggaa keessa ji'a furmaataa Nebukadnezaariin mootichi namoota ergee, meya Galma Mootii Waan Maraa ka gatii guddo'oo waliin gara Baabilonii isa geesse. Achiin duuba obboleessa isaa ka abbaa diqqaa Zedeqiya'aa biyya Yihuda'aatii fi Yersaaleem irratti mootii godhe.

Mootii Yihuda'aa Zedeqiya'a (2 Mot. 24:18-20; Erm. 52:1-3)

* **36:9** Woggaa kudhanii saddeeti: Barreeffam Ibrootaa tokko woggaa saddeeti jedha.

¹¹ Zedeqiiyaan yennaa mootii te'e nama woggaa diddamii tokkoo ti; inni Yerusaalem keessa te'ee woggaa kudhanii tokko bulche.

¹² Innille Mootii Waan Maraa Waaqa ifii duratti waan hantuu huje. Jecha Mootii Waan Maraa ka dubbate Ermiyaasii raagicha duratti gad hin jenne.

¹³ Nebukadnezaarii mooticha maqaa Waaqaatiin isa kakachiise irratti finqila kaase. Inni ajajamuu didee, gadhaa jabaate malee gara Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii hin deebine.

¹⁴ Itti dabalane qondaaltoti hayyootaati fi kolba'aa ka hin addatanne te'anee aadaa diqachiittuu gosa biyya adda adda hordofanee, Galma Mootii Waan Maraa ka inni Yerusaalem keessatti wooyoonfate batteessane.

Jinnana Yerusaalemii

¹⁵ Mootiin Waan Maraa, Waaqi abbootii isaanii ta durii, kolbaa ifitiif, Galma ifitiifille marartii waan qabuuf, yennaa bacaa raagota ifii gara isaanii ergee, isaan ifi eeggachiiseeraayyu.

¹⁶ Isaan ammoo haga mufiin Mootii Waan Maraa ta jalaa bayanee hin dandeenne kolbaa isaati dhuttetti, ergantoota Mootii Waan Maraa irratti murganee, jecha isaalle tuffatane raagota isaa salphisane.

¹⁷ Tanaaf Mootiin Waan Maraa mootii Baabilonii isaan irratti kakkaasee, inni dargaggoota dhiira isaanii addee woyyittii keessatti shallaaga'an ijjeese; ijoollee dhiiraatii fi ta durraa, jaarsa dulloome yookiin gergeshe maraafille gadhaa hin laanne. Mootiin Waan Maraa isaan mara harka Nebukadnezaariititti dabarsee kenne.

¹⁸ Nebukadnezaar meya Galma Mootii Waan Maraa gugurda'aa fi didiqqaa mara, qabeenna Galma Waaqaa, qabeenna mana mootumma'aatii fi qondaaltota mootichaa mara fudhatee gara Baabilonii geesse.

¹⁹ Isaan Galma Waaqaa ibiddaan gubanee, dalleya qachaa Yerusaalemiille diigane, mana mootumma'aa isaa mara ibiddaan gubanee, meya gatii guddo'oo ka isaa mara balleessane.

²⁰ Inni worra shallaagaa jalaa miliqee hafe booji'ee gara Baabilonii geessee, isaan haga mootummaan worra Faaresii dhaabantetti, tajaajiltoota mootichaatii fi ilmaan isaa te'ane.

²¹ Akkasiin jechi Mootii Waan Maraa ka karaa Ermiyaasii raagichaatiin dubbatame muummowee, woggaa torbaatama haga isaan biyya itti booji'amane keessa le'anuu kana mara latti ontee, foora Sanbataa ka woggaa torbaa ka dur dhadde dhagatte.

Mootiin Faaresii Qiros Yihudooti Boojuu Irraa Akka Deebitu Ajaje

²² Jechi Mootiin Waan Maraa karaa Ermiyaasii raagichaatiin dubbate akka muummowu, mootiin Faaresii Qiros mootii te'ee woggaa tokkeesso'ootitti, Mootiin Waan Maraa yaadaa isaa kakkaase; tanaaf inni mootummaa ifii mara keessa lassii lassiisee, barreeffamaan baasee,

²³ mootiin Faaresii Qiros, «Mootiin Waan Maraa Waaqi ol-gubba'aa, mootummaa biyya lafaa mara naaf kennee, Yerusaalemii Yihudaa keessaatitti, Galma isaa akka ijaaruuf na ajajeera; kolbaa isaa keessaa nama odduu teessan jiru, Mootiin Waan Maraa Waaqi isaa isa woliin jiraatuu ti; innille gara Yerusaalemii dhaquu ti» jedhe.

Kitaaba Izra'aa Seensa

Kitaab Izra'aa, kitaabota dabarsi'ii lamatti ka aaneeru yoo te'u, marroo Yihudooti booji'amane gariin Baabylon irraa deebi'iisaatii fi Yerusaalem keessatti adde'etti deebi'isa jiru'uutii fi waqonfanna'aa dubbata. Haalli kun akka asii gad jirutti dhikaateera: (1) Ajaja mootii Faarsiitiin, booji'antooti Yihudootaa ta qaraa, Baabylon irraa deebite. (2) Galmi Waaqaa deebi'ee ijaarramee eebbifame; Yerusaalem keessatti Waaqa waqonfatiisille adde'etti deebi'e. (3) Woggaa heddu'uun duuba, booji'antooti Yihudootaa ta dhibiin beekkicha seera Waaqaa Izra'aan sooreffamaa gara Yerusaalemii deebite; Izraan jiruu Israa'elii ta ayyaanaatii fi dhugeeffannaa isaanii adde'etti deebisiisaaf, jiruu kolba'aa ta ayyaanaatii fi jiruu isaanii ta hawaasumma'aa isaan qarqaare.

Haadhoo Dubbi'ii

Boojuu irraa deebi'isa qaraa 1:1–2:70

Deebi'ee ijaarramiisaa fi eebbifamiisa Galma Waaqaa 3:1–6:22

Izraan booji'antoota dhibii woliin deebi'e 7:1–10:44

Yihudooti Boojuu Irraa Deebi'ane

¹ Dubbiin Mootiin Waan Maraa karaa Ermiyaasii raagichaatiin dubbate akka muummottu, mootichi Faaresii Qiros mootii te'ee woggaa tokkeesso'ootitti, akka inni lassii lassiisee barreeffamalle'een baasu Mootiin Waan Maraa yaada isaa kakkaasee,

² «Mootiin Faaresii Qiros, «Mootiin Waan Maraa Waaqi ol-gubba'aa mootummaa biyya lafaa mara na kenneera; Yerusaalemii Yihudaa keessaatitti, Galma isaa akka ijaaru na ajajeera.

³ Kolbaa isaa keessaa nama odduu teessan jiru mara, Waaqi isaa isa woliin jiraatuu ti; inni gara qachaa Yerusaalemii ka Yihudaa keessa jiruu ol bayee, Waaqa achi jiruuf, Galma Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii deebisee ijaaruu ti.

⁴ Worri addee boojuu'utitti hafe marti addee jiranu mara keessaa, kennansaa fedhii ifitiin Galma Waaqaa ka Yerusaalem keessa jiruuf kennanuun ala, meeti'ii fi worqii, meyya fi horii kenniisaan isa qarqaaranuu ti» jedheera» jedhe.

⁵ Achiin duuba maatii Yihuda'aatii fi Benyaaminii keessaa angafooti, hayyootii fi Lewwooti, nami Waaqi yaada isaa kakkaase marti dhaqee Galma Waaqaa ka Yerusaalem keessa jiru deebisee ijaariisaaf qophowe.

⁶ Worri adaala isaanii jiru martinuu, kennansa fedhii ifitiin kennanuun ala, meyya meeti'ii fi worqii irraa hujame, meyya adda addaa, meyya gatii guddootii fi horii kenniisaan isaan qarqaarane.

⁷ Kana maleelle mootichi Qiros, meyya Galma Waaqaa ka Nebukadnezaar Yerusaalemii fudhatee galma waaqota ifii keessa keyateeru gad baase.

⁸ Mootiin Faaresii Qiros meyya san namicha meyya mana mootumma'aa eegu Miitradaatitti kennee, bulchaa Yihuda'aa ka te'e Sheshibazaar duratti akka laakkowamu kenne.

⁹ Mey laakkowame sun ka asii gad jiru:

Qoriin gugurdoon worqii irraa hujante soddoma;

Qoriin gugurdoon meetii irraa hujante kuma tokko;

Qoriin dhibiin diddamii sagal;

¹⁰ Qoriin didiqqoon worqii irraa hujante soddoma;

Qoriin didiqqoon meetii irraa hujante ta wol fakkaattu dhibba afurii fi kudhan.

Mey adda addaa ka dhibiin kuma tokko.

¹¹ Mey worqi'iitii fi meeti'ii wolumatti kuma shanii fi dhibba afur. Worri booji'ame Baabilon irraa gara Yersaaleemii yennaa deebi'e, Sheshibazaar meya kana mara fuudhee baye.

2

Maqaa Worra Boojuu Irraa Deebi'ee

¹ Mootiin Baabilonii Nebukadnezaar gara Baabilonii worra booji'e keessaa, worri gara qachoota ifii Yersaaleemii fi Yihuda'aa deebi'e isaan kana:

² isaan soressitoota ifii Zarubaabel, Iyaasuu, Nahimiyaa, Seraayaa, Re'elaayaa, Mordekaayi, Biilshaan, Miisphaar, Biigwaayi, Rehuumii fi Ba'anaa waliin deebi'ane.

Kolbaa Israa'elii keessaa worri boojuu irraa deebi'e, laakkossi isaanii asii gad jira:

- ³ Sanyiin Fareshii kuma lamaa fi dhibba tokkoo fi torbaatamii lama;
- ⁴ sanyiin Shephaaxiya'a dhibba sadii fi torbaatamii lama;
- ⁵ sanyiin Araa dhibba torbaa fi torbaatamii shan;
- ⁶ sanyii Fahat Mo'aabii keessaa sanyiin Iyaasu'uutii fi Yo'aabii kuma lamaa fi dhibba saddeetii fi kudhanii lama;
- ⁷ sanyiin Elaamii kuma tokkoo fi dhibba lamaa fi shantamii afur;
- ⁸ sanyiin Zaatuu dhibba sagalii fi afurtamii shan;
- ⁹ sanyiin Zakaayii dhibba torbaa fi jaatama;
- ¹⁰ sanyiin Baanii dhibba jaa fi afurtamii lama;
- ¹¹ sanyiin Bebaayii dhibba jaa fi diddamii sad;
- ¹² sanyiin Azigaadii kuma tokkoo fi dhibba lamaa fi diddamii lama;
- ¹³ sanyiin Adoniiqaamii dhibba jaa fi jaatamii jaa;
- ¹⁴ sanyiin Biigwaayii kuma lamaa fi shantamii jaa;
- ¹⁵ sanyiin Aadiinii dhibba afurii fi shantamii afur;
- ¹⁶ sanyii Ateerii keessaa sanyiin Hisqiyaasii sagaltamii saddeeti;
- ¹⁷ sanyiin Bezaayii dhibba sadii fi diddamii sad;
- ¹⁸ sanyiin Yoraa dhibba tokkoo fi kudhanii lama;
- ¹⁹ sanyiin Hashumii dhibba lamaa fi diddamii sad;
- ²⁰ Sanyiin Gibaarii sagaltamii shan;
- ²¹ namooti qachaa Betlihemii dhibba tokkoo fi diddamii sad;
- ²² namooti qachaa Netofa'aa shantamii jaa;
- ²³ namooti Anaatotii dhibba tokkoo fi diddamii saddeeti;
- ²⁴ namooti Azmaawetii afurtamii lama;
- ²⁵ namooti qachoota Kiriiyat-Ya'ariimii, Kefiraa fi Be'erotii dhibba torbaa fi afurtamii sad;
- ²⁶ namooti qachaa Raama'aatii fi Gebaa dhibba jaa fi diddamii tokko;
- ²⁷ namooti qachaa Miikmaashii dhibba tokkoo fi diddamii lama;
- ²⁸ namooti qachaa Bet'eliitii fi Aayii dhibba lamaa fi diddamii sad;
- ²⁹ namooti qachaa Neboo shantamii lama;
- ³⁰ namooti qachaa Magbiishii dhibba tokkoo fi shantamii jaa;
- ³¹ namooti qachaa Elaamii dhibi'ii kuma tokkoo fi dhibba lamaa fi shantamii afur;
- ³² namooti qachaa Haariimii dhibba sadii fi diddama;

³³ namooti qachaa Lodii, Haadiidiitii fi Onoo dhibba torbaa fi diddamii shan;

³⁴ namooti qachaa Yeriko'oo dhibba sadii fi afurtamii shan;

³⁵ namooti qachaa Sena'aa kuma sadii fi dhibba jaa fi soddoma.

³⁶ Hayyooti boojuu irraa deebite: sanyii Yedaa'iya'aa keessaa maatiin Iyaasu'uu dhibba sagalii fi torbaatamii sad;

³⁷ sanyiin Iimerii kuma tokkoo fi shantamii lama;

³⁸ sanyiin Phashihurii kuma tokkoo fi dhibba lamaa fi afurtamii torba;

³⁹ sanyiin Haariimii kuma tokkoo fi kudhanii torba.

⁴⁰ Lewwooti boojuu irraa deebi'ane: sanyii Hodaawiyaa keessaa sanyiin Iyaasu'uutii fi Qadmii'elii torbaatamii afur;

⁴¹ faarsitooti: sanyiin Asaafii dhibba tokkoo fi diddamii saddeeti;

⁴² Eddoti karra Galma Waaqaa: sanyiin Shaalumii, sanyiin Ateerii, sanyiin Xalmoonii, sanyiin Aquubii, sanyiin Haxiixa'aatii fi sanyiin Shabaayii wolumatti dhibba tokkoo fi soddomii sagal.

⁴³ Tajaajiltooti Galma Waaqaa ta boojuu irraa deebite: sanyii Ziihaa, sanyii Hasufaa, sanyii Xabaa'otii,

⁴⁴ sanyii Qerosii, sanyii Sii'eha'aa, sanyii Faadonii,

⁴⁵ sanyii Lebaana'aa, sanyii Hagaaba'aa, sanyii Aquubii,

⁴⁶ sanyii Hagaabii, sanyii Shalmaayii, sanyii Haanaanii,

⁴⁷ sanyii Giidellii, sanyii Gahaarii, sanyii Re'aaya'aa,

⁴⁸ sanyii Resiinii, sanyii Neqoda'aa, sanyii Gaazaamii,

⁴⁹ sanyii Uza'aa, sanyii Faaseha'aa, sanyii Besaayii,

⁵⁰ sanyii Asina'aa, sanyii Me'unoota'aa, sanyii Nefusiimii,

⁵¹ sanyii Baqbuqii, sanyii Haqufa'aa, sanyii Harhurii,

⁵² sanyii Baslutii, sanyii Mehiida'aa, sanyii Harisha'aa,

⁵³ sanyii Baarqosii, sanyii Siisera'aa, sanyii Taamaa,

⁵⁴ sanyii Nesiiya'aatii fi sanyii Haxiifa'aa ti.

⁵⁵ Sanyiin tajaajiltoota Solomoonii ta boojuu irraa deebite: sanyii Soxaayii, sanyii Hasoferetii, sanyii Faruda'aa,

⁵⁶ sanyii Ya'ala'aa, sanyii Daarqonii, sanyii Giidellii,

⁵⁷ sanyii Shefaaxiya'aa, sanyii Haxiillii, sanyii Fokeretii, sanyii Hasbaayimiitii fi Amii ti.

⁵⁸ Sanyiin tajaajiltoota Galma Waaqaatii fi sanyiin tajaajiltoota Solomoonii wolumatti dhibba sadii fi sagaltamii lama.

⁵⁹ Worri qachaa Tel-Melaatii, worri qachaa Tel-hareshaatii, worri qachaa Keruubii, worri qachaa Adaaniitii fi Iimeriitii bayanee dhufane, sanyiin isaanii Israa'eloota akka teete mirkaneessiisa hin dandeenne.

⁶⁰ Isaanille sanyiin Delaaya'aa, sanyiin Xobiiya'aatii fi sanyiin Neqoda'aa dhibba jaa fi shantamii lama.

⁶¹ Hayyoota keessaa, sanyii Habaaya'aa, sanyii Haqoziitii fi sanyii Baarziilaayii ti; Berziilaayi intala Baarziilaayii Giil'aadichaa fuudhee maqaa kanaan waamame.

⁶² Isaan kun worra akka hidda dhaloota isaanititti barreeffamane keessaa maqaan sanyii isaanii waan dhabameef, akka battootaatitti laakkowamane, tajaajila hayyumma'aa irraa dhooggamane.

⁶³ Bulchaan biyyaa, haga hayyichi Uriimii fi Tumiimiin fedha Waaqaa gaafatiisa dande'u dhaggamutti, sagalee irraa caalaa woyyittii akka hin nyaanne isaan ajaje.

⁶⁴ Laakkossi namoota boojuu irraa deebi'anee wolumatti kuma afurtamii lamaa fi dhibba sadii fi jaatama;

⁶⁵ kana maleelle tajaajiltooti isaanii dhiiraa fi dubartiin kuma torbaa fi dhibba sadii fi soddonii torba; faarsitooti isaanii dhiiraa fi dubartiin dhibba lama;

⁶⁶ Fardoon isaanii dhibba torbaa fi soddonii jaa; Gaangoleen isaanii dhibba lamaa fi afurtamii shan;

⁶⁷ Gaaloti isaanii dhibba afurii fi soddonii shan; Harreeleen isaanii kuma jaa fi dhibba torbaa fi diddama.

⁶⁸ Worri boojuu irraa deebi'e Galma Waaqaa ka Yerusaalem keessaa yennaa geyane, sooreyyiin maatii'ii gariin Galmi Waaqaa addee duriititti deebi'ee akka ijaaramu qarqaariisaaf, fedhii ifitiin kennansa kennane.

⁶⁹ Isaan hujii Galma Waaqaatiif, akka dandeettii isaaniititti wolumatti worqii gara kiiloogiraama dhibba shanii, meetii gara kiiloogiraama kuma sadiitii fi woyaa hayyooti uffattu dhibba tokko kennane.

⁷⁰ Hayyooti, Lewwooti, namooti dhibiille, faarsitooti, eeddoti karraatii fi tajaajiltooti Galma Waaqaa qachoota ifii keessa qubatane. Israa'elooti hafanelle qachootuma ifii keessa qubatane.

3

Addeen Ciinca'aa Deebitee Ijaarante

¹ Israa'elooti qachoota ifiititti galanee, ji'i torbeesso'oo yennaa geye, kolbaan marti Yerusaalem keessatti wolitti qabante.

² Achiin duuba ilmi Yozaadaaqii Iyaasuun, hayyooti akka isaa, Zarubaa-beliin ilmi She'altii'eliitii fi obboleeyyan isaa, akkuma seera Muusee nama Waaqaa keessatti barreenfate, kennansa gubamu irratti dhikeessiisaaf, addee ciinca'aa ta Waaqa Israa'elii ijaariisa jalqabane.

³ Isaan kolbaa adaala sanii waan sodaataneeff, addee ciinca'aa san hundee isi'ii ta durii irratti deebisane ijaarane, kennansa gubamu addee ciinca'aa san irratti ganamaa fi galgala Mootii Waan Maraatiif dhikeessane.

⁴ Achiin duuba kennansa gubamu ka guyyaa guyya'aaf barbaachisu dhikeessiisaan, akkuma laakkossa barreeffameetitti jila gose'ee jilifatane.

⁵ Kanaan duuballe kennansa gubamu ka guyyaa maraa, ciincaa baatii ji'aa, ciincaa jila woyyittii Mootii Waan Maraatiif dhikaatuu fi kennansa fedhii ifitiin nami Mootii Waan Maraatiif kennulle dhikeessane.

⁶ Hundeen Galma Waaqaa keyamuu dhaddulle, isaan ji'a torbeesso'ootitti guyyaa qaraa ciincaa Mootii Waan Maraatiif dhikeessiisa jalqabane.

Galmi Waaqaa Deebi'ee Ijaarame

⁷ Kolbaan worra dhakaa bocuu fi worra muka bocuufille beese kennite; akkasuma akka ajaja Qirosii mooticha Faarsiititti jigeessa hindheensa Libaanosii haga Yophe'eetitti abbaayaa irra akka fidanuuf, namoota Sidooniitii fi Xiirsoosiitiifille sagalee, daadhii woyni'itii fi zayitii ejersaa kennane.

⁸ Gara Yerusaalemii addee Galmi Waaqaa dur jiru sanitti deebi'ane woggaa lammeesso'oo, ji'a lammeesso'ootitti, ilmi She'altii'elii Zerubaabel, ilmi Yozaadaaqii Iyaasuun, kolbaan dhibiille, hayyootii fi Lewwooti, worri boojuu irraa gara Yerusaalemii deebi'e martinuu hujii jalqabane. Hujii ijaarsa Galma Waaqaa irra deddeemanee akka toowatanu, Lewwoota woggaa diddamaatii fi woggaa diddamaa olii mara filatane.

⁹ Iyaasuun ilmaan ifitii fi obboleeyyan ifii, Qadmii'elii fi ilmaan Qadmii'elii ta sanyii Hodaawiya'aa, ilmaan Henaadaadiitii fi ilmaan isaanii, obboleeyyan isaaniille woliin, Lewwooti marti worra Galma Waaqaa ijaaru toowatiisaaf wolitti dabalamanee itti gaafatamummaa fudhatane.

¹⁰ Worri ijaaru hundee Galma Mootii Waan Maraa yennaa keyane, akkuma mootichi Israa'elii Daawiti ajajetti, hayyooti woyaa hayyummaa ifii uffatanee, tultullaalle qabatanee, Lewwooti ilmaan Asaafii sibiila qilillisu qabatanee, Waaqa leellifatiisaaf, addee addee ifii qabatane.

¹¹ Isaan faaru'uun,

«Waaqi dansa'a;

jaalalli isaa ka bara baraa

ka inni Israa'eliif qabu

haga bara baraa ti» jedhanee,

Mootii Waan Maraa leellifatanee galateeffatane.

Hundeen Galma Mootii Waan Maraa waan dhaabateef, kolbaan marti gammaddee, qoonqoo ifii ol qabatee Mootii Waan Maraa leellifatte.

¹² Maanguddooti hayyootaa, Lewwootaatii fi sooreyyiin maatii worri Galma Mootii Waan Maraa ka durii dhagganeeranu marti, yennaa hundee Galma Mootii Waan Maraa kana dhaggane, qoonqoo guddoon bowane; namooti dhibiin hedduun ammoo qoonqoo ifii ol qabatanee gammadaan ilillisane.

¹³ Namooti qoonqoo guddisane ol qabatanee waan hogisaneef, nami tokkolle ililleettii gammadaatii fi qoonqoo bowiisaa dande'ee gargar hin baafanne. Qoonqoolle fago'otti dhage'ante.

4

Mormii Deebifamee Ijaaramiisa Galma Waaqaa Irratti Kaate

¹ Worri boojuu irraa deebi'e, Galma Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii ijaariisatti akka jiranu, diinoti Yihuda'aatii fi Beniyaaminii yennaa dhage'ane,

² gara Zerubaabeliitii fi sooreyyii maatii dhaqanee, «Nuutille akkuma keessan Waaqa keessan waqonsuu barbaanna; haga bara Esaar-hadon mootiin biyya Asoorii as nu fidee jalqannee, Waaqa keessaniif ciincaa dhi-keessaa turre; tanaaf, Galma Waaqaa isin woliin ijaaru ti» jedhane.

³ Zerubaabel, Iyaasu'uu fi sooreyyiin maatii Israa'elii ammoo deebisane, «Isin Galma Waaqa keennaa nu woliin ijaariisaaf qooda hin qaddanu; akkuma mootichi Faaresii Qiros nu ajaje, Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'eliitiif Galmaa Waaqaa ka ijaaru nu qofa» jedhane.

⁴ Achiin duuba kolbaan lafa san keessa leetu, Yihudoota addii kutachiisane akka isaan Galma Waaqaa hin ijaarre sodaachisane.

⁵ Bara bulchiinsa mootii Faaresii Qirosiitiin jalqabee haga bulchiinsa mootii Faaresii Daariyosiititti, namoota karoora ijaarsa isaanii gufachiisu itti bitane.

⁶ Jalqaba bulchiinsa Ahashiwerosiititti, diinoti kolbaa Yihuda'aatii fi Yersaaleemii mormiisaaf himannoo barreessane.

⁷ Bara bulchiinsa mootii Faaresii Artashaastaatti Biishlaam, Miitradat, Xaabe'elii fi worri isaan woliin jiru gara Artashaasta'aa xalayaa barreessane; xalayaan sun qubee Aaramiitiin barreeffamee afaan Aaramiititti hiikame.

⁸ Bulchaan Rehuumii fi barreessaan bulcha'aa Shiimshaay akka asii gad jirutti xalayaa Yersaalem mormu gara mooticha Artashaasta'aa barreessane:

⁹ Xalayaan sun bulchaa Rehuum, barreessaa bulcha'aa Shiimshaay, worra isaan woliin huju abbootii mura'aatii fi qondaaltota, Faaresii, Ereki, Baabiloniitii fi worra Elaamii ka Suusaa keessaa,

¹⁰ akkasuma kolbaa worra dhibii ka Osnaapheriin guddichii fi hunnaamessi booji'ee qachaa Samaariya'aatii fi kutaa biyyaa ka laga Efraaxiisitiin gama qubachiise irraa barreeffame.

¹¹ Garagalchi xalayaa kanaa:

«Tajaajiltoota teeti worra laga Efraaxiisitiin gara seensa adu'uu jiru irraa, mooticha Artashaasta'aaf!

¹² Yihudooti si biraa gara keenna dhufane, Yersaalem dhaqanee qachaa worra finqila'aatii fi hama'aa deebisane ijaariisatti jiran; dalleya isi'ii deebisane ijaariisatti, hundee isi'iille dhaabiisatti jiran. Kun si mooticha biratti beekkamuu ti.

¹³ Qachaan kun yoo ijaarame, dalleenni isaalle yoo deebi'ee ijaarame, kolbaan Yersaalemii gibiraa fi qaraxa, beese waan adda addaatiif baasanu hin dhooggatan; tanaaf galiin mootumma'aa akka diqqaattu, si mooticha biratti beekkamuu ti.

¹⁴ Nuuti bu'aa mana mootumma'aa irraa waan dhagganuuf, salphinna keeti dhaggaa cadhinnee ilaalu waan hin barbaanneef, waan kana akka ati beettuuf xalayaa kana sitti ergine.

¹⁵ Maarre galmeen abbootii teetii ta durii, qorqorantee ilaalantuu ti; qachaan kun qachaa finqilaa, ka moototaa fi kutaa biyyaa rakkise; durumaa jalqabee addee worri finqilaan keessa le'u akka te'e atinuu hin dhaggita; qachaan kun sababa kanaaf bade.

¹⁶ Qachaan kun yoo ijaarame, dalleenni isaalle deebi'ee yoo ijaarame, ati laga Efraaxiisii irraa gara aduun seentuun lafa ijumaa akka hin qabaanne beeki» ka jedhu.

¹⁷ Mootichi Artashaastan deebii ergee, «Bulchaa Rehuumiif, barreessaa Shiimshaayiif, worra isaan waliin huju ka Samaariyaa keessa le'anuu fi akkasuma worra laga Efraaxiisii irraa gara aduun seentu le'anuu, nageenni isiniif te'u.

¹⁸ «Xalayaan isin ergitane hiikamee na duratti dubbifameera;

¹⁹ anille akka qorqoranu isaan ajajee, qachaan Yersaalemii duriinuu jalqabee dabarsii dheertuu ka mootota irratti finqila kaasuu, ka finqillii fi rakkinni keessa guute akka te'e dhaggeera.

²⁰ Yersaalem mootota jajjaba biyya laga Efraaxiisii irraa gara aduun seentu jiranu bulchu ka gibira, qaraxaa fi beese waan adda addaatiif buusanu guuru qaddiyyu.

²¹ Tanaaf, haga ani ajajutti, qachaan kun deebi'ee akka hin ijaaranne, namooti hujii akka dhaabbachiisanu ajaja'a.

²² Waan kana akka waan kaso'oo akka hin ilaalle ifi eeggadha'a! Wonni mootummaa miidhu, maaf guddataa deema ree?» jedhe.

²³ Akkuma yaadi xalayaa mooticha Artashaastaa irraa dhufe, Rehuum, barreessaa Shiimshaayii fi worra isaan waliin hujuuf dubbifameen, yoosuma gara Yihudoota Yersaalem keessa jiranuu dhaqanee, hunnaan hujii dhaabbachiisane.

²⁴ Maarre Daariyos mootii Faaresii te'ee haga woggaa lammeesso'ootitti, hujii Galma Waaqaa ka Yersaalem keessaa dhaabbate.

5

Xalayaa Taatenaay Daariyosiif Erge

¹ Yennaa san raagichi Haage'ee fi Zakaariyaasiin raagichi sanyii Iddoo Yihudoota Yersaalemii fi lafa Yihuda'aa le'anuu, maqaa Waaqa Israa'eliitiin raaga dubbatane.

² Achiin duuba ilmi She'altii'elii Zerubaabelii fi ilmi Yozaadaaqii Iyaa-suun, Galma Waaqaa ka Yerusaalem keessaa deebisanee ijaariisa jalqabane; raagoti Waaqaalle isaan qarqaariisaaf isaan woliin jiraniyyu.

³ Yennaa san Taatenaay bulchaan kutaa biyya laga Efraaxiisii irraa gara aduun seentuu, Shetaar-Boznaayii fi worri isaan woliin huju dhufanee, «Galma Waaqaa kana akka deebittanee ijaartanuuf, dalleya kanalle akka ijaartanee fixxanu eennutti isin ajaje» jedhanee isaan gaafatane.

⁴ Isaan, «Maqaa namoota ijaarsa kana ijaariisatti jiranuu eennu fa'a» jedhanee gaafatane.

⁵ Ammoo Waaqi isaanii maanguddoo sooreyyii Yihudootaa eegiisatti jiraayyu; dubbiin Daariyos bira geettee deebiin barreeffamaan haga deebitutti ijaariisa isaan hin dhooggine.

⁶ Garagalchi Xalayaa Taatenaayii bulchaa kutaa biyya laga Efraaxiisii irraa gara aduun seentuu, Shetaar-Boznaayii fi worra isaan woliin hujuu, ka laga Efraaxiisiitiin gama gara aduun seentu biraa gara Daariyosii ergame kana:

⁷ «Mooticha Daariyos, nageenni si'iif te'u!

⁸ Nuuti gara kutaa biyya Yihuda'aa, gara Galma Waaqa gudda'aa akka dhandhe si mooticha biratti beekkamuu ti; kolbaan Galma Waaqaa keessa dhakaa gugurda'aa fi xawulaa mukaatiin dhaaba Galma Waaqaa deebittee ariiti'iin jabaattee ijaariisatti jirti.

⁹ «Nuutille, «Galma Waaqaa kana akka deebittanee ijaartanuuf, dhaaba Galma Waaqaa kanalle akka ijaartanee fixxanu eennutti isin ajaje?» jennee sooreyyii kolba'aa gaafanne.

¹⁰ Nuuti ammalle sooreyyiin hujii tanaa eennu fa'a akka te'ane barreessinee sitti beessisiisaaf, maqaa isaanii gaafanne.

¹¹ «Isaanille deebisanee, «Nuuti tajaajiltoota Waaqa ol-gubba'aatii fi lafaa ti; Galma Waaqaa ka mootiin Israa'elii guddaan bara heddu'uun dura ijaaree fixe deebinnee ijaariisatti jirra.

¹² Abbootiin teenna ta durii ammoo Waaqa ol-gubba'aa waan mufachiitteef, innille nama biyya Kaldootaa mootii Baabilonii Nebukadnezaaritti dabarsee isaan kenne; innille Galma Waaqaa diigee, kolbaalle gara Baabilonii booji'e.

¹³ Te'uu malee, Qiros mootii Baabilonii te'ee woggaa tokkeesso'ootitti Galmi Waaqaa kun akka deebi'ee ijaaramuuf ajaje.

¹⁴ Inni meya worqi'itii fi meeti'ii ka Galma Waaqaa, ka Nebukadnezaar Galma Waaqaa Yerusaalem keessa jiru keessaa fuudhee, galma waaqota dharaa ka worra Baabilonii keessa keyeeru, gad baase; achiin duuba meya san namicha akka inni biyya Yihuda'aa bulchuuf filate, Sheshbazaaritti kenne.

¹⁵ Qiros: Galmi Waaqaa Yerusaalem keessatti addee ifii ta duriititti deebifamee ijaaramuu ti. Atille meya kana fuudhiitii Galma Waaqaa ka Yerusaalem keessaatitti deebisi! jedhee isatti hime.

¹⁶ Maarre Sheshbazaariin kun dhufee hundee Galma Waaqaa Yerusaalem keessatti dhaabe; yennaa sanii jalqabee haga ammaatitti ijaaramiisatti jira; haga ammaa ammoo hin hobbaane» jedhane.

¹⁷ «Amma yoo si mooticha gammachiitte, Galmi Waaqaa kun Yerusaalem keessatti deebifamee akka ijaaramuuf, mooticha Qiros irraa ajaji bayee yoo jiraate, galmeen mana meya mootumma'aa ka Baabilon keessaa ilaalantuu ti! Waan dubbii tanaa murtee teeti nuuf ergi» ka jedhu.

6

Ajaja Daariyosii

¹ Maarre mootichi Daariyos galmee mana meya mootummaa Baabilonii keessaa akka qorqoranu ajaje.

² Kitaab maramaan tokko kutaa biyyaa Medoon keessatti mana mootummaa'aa qachaa Ahimaata'aatitti dhaggame; wonni isa keessatti barreeffameeru asii gad jirti: Gabaassi barreeffamaa:

³ «Qiiros mootii te'ee woggaa tokkeesso'ootitti marroo Galma Waaqaa ka dur Yersaalem keessa jiruutiif ajaja baasee, «Galmi Waaqaa akka ciincaan itti ciinceffamuuf, deebifamee akka ijaaramu hundeen isaa keyamuu ti; dheerinni isaa ciqilee jaatama, badhinni isaalle ciqilee jaatama te'uu ti.

⁴ Tarreen sad dhakaa gugurda'aan naqamee, tarreen tokko xawulaan naqamee ijaaramuu ti! Gatiin isaalle beese mana mootummaa'aa keessaa kaffalamuu ti.

⁵ Akkasuma meya worqi'iitii fi meeti'ii ka Nebukadnezaar Galma Waaqaa ka Yersaalem keessa jiru keessaa fuudhee gara biyya Baabiloniititti geesse, addee isaaniititti deebifamanuu ti; Galma Waaqaa ka Yersaalem keessa jiru keessa keyamanuu ti» jedheera» ka jedhu.

⁶ Achiin duuba Daariyos, «Taatenaa bulchaan kutaa biyya laga Efraaxiisii irraa gara aduun seentuu, Shetaar-Boznaay, isin worri isaan woliin hujjanulle, Galma Waaqaa san irraa fagaadha'a!

⁷ Hujii Galma Waaqaa keessa hin galina'a! Galma Waaqaa kana bulchaan Yihudootatii fi jaarsoleen Yihudootaa addee inni dur jirutti deebisanee ijaaranuu ti.

⁸ Kana maleelle, deebisanee ijaariisa Galma Waaqaa kanaaf jaarsolee Yihudootaa tanaaf isin maan akka gootanu isin ajaja; hujii Galma Waaqaa akka hin dhaabbanne, beese worri kutaa biyya laga Efraaxiisii irraa gara aduun seentu jiru, mootummaa'aaf gibira gabbare keessaa, ariiti'iin wonni isaaniif barbaachisu guutumatti isaaniif kaffalamuu ti!

⁹ Waaqa ol-gubba'aatiif kennansa gubamu dhikeessiisaaf, waan barbaachisu mara dardaroota, korbeeyyii hoole'ee, yookiin korbeeyyii buruusoo hoole'ee akkasuma qamadii, soodda, daadhii woyni'iitii fi zayitii ejersaa guyyuma guyya'aan hayyoota Yersaalemiitiif kennamanuu ti.

¹⁰ Isaan ciincaa Waaqi ol-gubba'aa gammadaan fudhatu dhikeessanee, anaa fi jiruu ijoollee tiyyaatiif akka daadimatantuuf kun godhama.

¹¹ Ajaja kana nami jijjiiru yoo jiraate, utubaan mana isaa keessaa buqqifamee, nami sun irratti dirmisiifamuu ti; sababa yakkaa isaatiif manni isaalle diigamee tuulaa kosi'ii akka te'u ani ajajeera.

¹² Mootota yookiin gosa biyya adda addaa ta ajaja kana jijjiiriisaaf yookiin mana Waaqaa ka Yersaalem keessaa kana diigiisaaf wodhaanuu, Waaqi Yersaalem lafa magaan isaa itti waamamu godhee filate, isaan garagalchuu ti! Ani Daariyos ajaja kana baaseera; ajaji kunille akkuma jirutti hujii irra ooluu ti» jedhe.

Galmi Waaqaa Eebbifame

¹³ Achiin duuba akkuma mootichi Daariyos ajaja dabarsetti Taatenaa bulchaan kutaa biyya laga Efraaxiisii irraa gara aduun seentuu, Shetaar-Boznaayii fi worri isaan woliin hujj waan mara hobbaasane.

¹⁴ Maarre Jaarsoleen Yihudootaa raaga raagicha Haage'eetii fi raagicha Zakaariyaasii sanyii Iddootiin jajjabaataa Galma Waaqaa ijaariisa itti fufane; isaan akkuma ajaja Waaqa Israa'eliitii fi akkuma ajaja mootota Faaresii Qiiros, Daariyosii fi Artashaasta'aatitti hujii Galma Waaqaa hobbaasane.

¹⁵ Galmi Waaqaa kun Daariyos mootii te'ee woggaa jayeesso'ootitti, ji'a «Adaar» jedhamu guyyaa sadeesso'ootitti ijaaramee hobba'e.

¹⁶ Achiin duuba kolbaan Israa'elii, hayyooti, Lewwootii fi worri kuun ka boojuu irraa deebi'ane, guyyaa Galmi Waaqaa itti eebbifame gammada gudda'aan jilifatane.

¹⁷ Isaan eebba Galma Waaqaa kanaaf jiboota dhibba tokko, korbeeyyii hoole'ee dhibba lama, buruusoo korbeeyyii hoole'ee dhibba afur, ciincaa sababa cubbu'uutiif dhikaatuufille Israa'el duudi'iif, akka laakkossa gosa Israa'eliititti korbeeyyii re'e'ee kudhanii lama dhikeessane.

¹⁸ Akkuma kitaaba Muuse'ee keessatti barreeffame hayyoota akkuma gooda isaaniititti, Lewwootalle akkuma golii isaaniititti, Galma Waaqaa ka Yerusaalem keessa jiru keessatti, tajaajila Waaqaatiif ramadane.

Jila Irra Dabaramaa

¹⁹ Worri boojuu irraa deebi'e, ji'a tokkeesso'oo, guyyaa kudhanii arfeesso'ootitti Jila Irra Dabaramaa jilifatane.

²⁰ Hayyootii fi Lewwooti ifi qulqulleeffatane; isaan martinuu akka aadaa dhugeeffanna'aatitti qulqullowane. Maarre Lewwooti worra boojuu irraa deebi'eef, hayyoota obboleeyyan ifitiif, ifille'eef hoolee Irra Dabaramaa qalane.

²¹ Maarre sagalee Jila Irra Dabaramaa san Israa'elooti boojuu irraa deebi'ane, worra Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii waaqonfatiisaaf batummaa worra Yihudoota hin te'inii ka lafa san jiranu irraa addaan ifi baasane mara woliin nyaatane.

²² Akka inni hujii Galma Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii isaan qarqaaruuf, Mootiin Waan Maraa gadhaa mooticha Asoorii gara isaanii deebisee, waan isaan gammachiiseef, jila daabboo uukoo hin qannee guyyaa torba gammada gudda'aan jilifatane.

7

Izraan Gara Yerusaalemii Dhufe

¹ Waan kanaan duuba bara bulchiinsa Artashaastaa mootii Faaresii, Izraan ilmi Seraaya'aa, Seraayaa ilma Azaariya'aa, Azaariyaa ilma Hilqiyya'aa,

² Hilqiyyaa ilma Shaalumii, Shaalumii ilma Zaadoqii, Zaadoqii ilma Ahiixubii,

³ Ahiixubii ilma Amaariya'aa, Amaariyaa ilma Azaariya'aa, Azaariyaa ilma Meraayootii,

⁴ Meraayootii ilma Zeraaya'aa, Zeraayaa ilma Uzii, Uzii ilma Bukii,

⁵ Bukii ilma Abiishuwaa, Abiishuwaa ilma Fiineshaasii, Fiineshaasii ilma Ele'azaarii, Ele'azaarii ilma hayyicha guddaa Aaronii,

⁶ Baabilon irraa gara Yerusaalemii dhufe; inni beekkicha seera Mootii Waan Maraa Waaqi Israa'elii Muuse'eef kenne akka dansaa ka beeku barsiisaa seeraa ti. Hunni Mootii Waan Maraa Waaqa isaa waan isa woliin jirtuuf, waan inni gaafate mara mootichi isaaf kenne.

⁷ Artashaastaa mootii te'ee woggaa torbeesso'ootitti Izraan Israa'eloota garii, hayyoota garii, Lewwoota garii, faarfattoota garii, worra karra eegu garii'ii fi worra Galma Waaqaa keessa tajaajilanu garii woliin Yerusaalem dhaqiisaaf ka'e.

⁸ Artashaastaa mootii te'ee ji'a shaneesso'ootitti Izraan Yerusaalem geye.

⁹ Hunni Waaqaa dansaan isa woliin waan jirtuuf, ji'a tokkeesso'oo guyyaa tokkeesso'ootitti Baabilonii ka'ee, ji'a shaneesso'oo guyyaa tokkeesso'ootitti Yersaaleem geye.

¹⁰ Izraan seera Waaqaa qorqoree hujii irra oolchiisaaf, akkasuma ajaja Waaqaa, seeraa fi sirna Waaqaa kolbaa Israa'elii duudii barsiisiisaaf jiruu ifii duudii kenneera.

Mootichi Artashaastan Xalayaa Izra'aaf kenne

¹¹ Garagalchi xalayaa mootichi Artashaastan, Izraa hayyicha barsiisaa, ka ajajaa fi seera Mootiin Waan Maraa Israa'elootaaf kenne mara beekuuf kenne asii gad jira:

¹² garagalchi xalayaa kanaa, «Artashaastaa mootii moototaa irraa, gara Izraa hayyicha barsiisaa seera Waaqa ol-gubba'aa ka te'eef; nageenni si'iif te'u!

¹³ Israa'elooti mootummaa tiyya keessa jiranu, hayyootii fi Lewwooti worri si woliin gara Yersaaleemii deemiisa barbaadanu marti akka deemanu ajajeera.

¹⁴ Akka ajaja Waaqa keetii ka harka keeti jiruutitti, marroo Yihuda'aatii fi marroo Yersaaleemii akka qorqortuuf ani mootichii fi gorsitooti tiyya torba si ergineerra.

¹⁵ Kana maleelle, ati meeti'ii fi worqii ani mootichii fi gorsitooti tiyya fedha keennaan Waaqa Israa'elii, ka Galmi isaa Yersaaleem keessa jiruuf kennine,

¹⁶ meeti'ii fi worqii kutaa biyya Baabilonii keessaa dhaggattu maralle, kennansa kolbaan Israa'eliitii fi hayyooti fedha ifitiin Galma Waaqa ifii ka Yersaaleem keessa jiruuf kennitu mara fuudhii deemi.

¹⁷ Beesee tanaan dardaroota, korbeeyyii hoole'ee, buruusoo korbeeyyii hoole'ee, kennaa midhaaniitii fi daadhii woyni'ii bitiitii addee ciinca'aa ta Galma Waaqa keetii ka Yersaaleem keessaa irratti ciinca dhikeessi.

¹⁸ Meeti'ii fi worqii hafaneen, atii fi obboleeyyan teeti Yihudooti akka fedha Waaqa keessanii waan isin gammachiise huja'a.

¹⁹ Galma Waaqa keetii keessatti akka ittiin tajaajilamu meya sitti kenname maraayyuu Waaqa Yersaaleem jiruuf dhikeessi.

²⁰ Kana maleelle waan Galma Waaqa keetiitiif barbaachisu maraaf, mana meya mootumma'aa keessaa baafadhu.

²¹ «Izraan hayyichi, beekkichi seera Waaqa ol-gubba'aa waan isin gaafate, akka isaaf kennitanu, ani Artashaastan mootichi, itti gaafatantoota mana meya mootumma'aa worra laga Efraaxiisii irraa gara aduun seentu jirtanu mara ajajeera.

²² Kunille meetii haga kiiloo kuma sadii fi dhibba afurii, qamadii haga kiiloo kuma kudhanii, daadhii woyni'ii haga litirii kuma lamaa, zayitii ejersaa haga litirii kuma lamaatii fi soodda haga barbaachise kenna'aaf.

²³ Wonni Waaqi ol-gubba'aa ajaje marti, ifi eegganna'aan Galma Waaqa ol-gubba'aatiif godhamuu ti! Ana mootichaa fi ijoollee tiyyatti mufiin maaf dhutti ree?

²⁴ Akkasuma isin hayyootatti, Lewwootatti, faarfattootatti, eeddota karraatitti, tajaajiltoota Galma Waaqaa yookiin worra Galma Waaqaa keessa huju irratti gibira, qaraxaa fi beesee waan adda addaatiif baasanu itti buusuu baallii akka hin qanne beeka'a.

²⁵ Atille Izraan, qarummaa Waaqi sii kenneen, kolbaa laga Efraaxiisii irraa gara aduun seentu jirtu mara akka bulchanuuf, abbootii seeraatii fi abbootii mura'aa ka seera Waaqa keetii beekanu filiif! Worra seera hin beenne atinuu barsiisi!

²⁶ Seera Waaqa keetiitii fi seera mootumma'aatiiifille ka hin ajajanne marti du'aan yookiin biyyaa baafamiisaan yookiin saamamiisaan yookiin hidhamiisaan adabamuu ti!» ka jedhu.

Izraan Waaqa Leellise

²⁷ Izraan, «Galma Waaqaa ka Yerusaalem keessa jiruuf, akka inni ulfinna kennu, yaada kana ka gadhaa mootichaa keessa keye, Mootiin Waan Maraa Waaqi abbootii teennaa leellifamuu ti!

²⁸ Inni mooticha, gorsitoota mootichaatii fi qondaaltota mootichaa hunnaameyyii mara duratti, fudhatama akka dhaggadhu na godheera; hunni Mootiin Waan Maraa Waaqa kiyyaa waan na woliin jiraatteef, jajjabaadhee, sooreyyii Israa'elii na woliin akka ol deemanu wolitti qabadhe» jedhe.

8

Sooressitoota Izraa Woliin Boojuu Irraa Deebi'ane

¹ Bara bulchiinsa mooticha Artashaasta'aa sooressitooti maati'ii ka ana Izraa woliin Baabylon keessaa bayanee fi ka isaan woliin galmowane ka asii gadi jiranu:

² sanyii Fiinehaasii keessaa, Gerishoom; sanyii Itaamaarii keessaa, Daani'el; sanyii Daawitii keessaa, Haxushi

³ sanyii Shekaaniya'aa ti; sanyii Faaroshii keessaa, Zakaariyaas; isa woliin dhiira dhibba tokkoo fi shantamatti galmeeffame.

⁴ Sanyii Phaahat-Mo'aabii keessaa, Elyo'enaayii ilma Saraaya'aa ti; isa woliin dhiira dhibba lamatti galmeeffame.

⁵ Sanyii Zatu'uu keessaa, Shekaaniyaa ilma Yehaazii'elii ti; isa woliin dhiira dhibba saditti galmeeffame.

⁶ Sanyii Aadiinii keessaa, Ebeedii ilma Yonaataanii ti; isa woliin dhiira shantamatti galmeeffame.

⁷ Sanyii Elaamii keessaa, Yeshaa'iyaa ilma Ataaliya'aa ti; isa woliin dhiira torbaatamatti galmeeffame.

⁸ Sanyii Shefaaxiyya'aa keessaa, Zebaadiyaa ilma Mikaa'elii ti; isa woliin dhiira saddeettamatti galmeeffame.

⁹ Sanyii Yo'aabii keessaa, Obaadiyaa ilma Yehii'elii ti; isa woliin dhiira dhibba lamaa fi kudhanii saddeetitti galmeeffame.

¹⁰ Sanyii Baanii keessaa, Shelomiitii ilma Yosii'fiya'aa ti; isa woliin dhiira dhibbaa fi jaatamatti galmeeffame.

¹¹ Sanyii Bebaayii keessaa, Zakaariyaasii ilma Bebaayii ti; isa woliin dhiira diddamii saddeetitti galmeeffame.

¹² Sanyii Azigaadii keessaa, Yohaannaanii ilma Haqaaxanii ti; isa woliin dhiira dhibbaa fi kudhanitti galmeeffame.

¹³ Sanyii Adoniiqaamii keessaa, worri duuba irra dhufane Eliifelex, Ye'ii'elii fi Shemaa'iyaa; isaan woliin dhiira jaatamatti galmeeffame.

¹⁴ Sanyii Biigbaayii keessaa, Utaayii fi Zaakur; isaan woliin dhiira torbaatamatti galmeeffame.

Tajaajiltoota Galma Waaqaa

¹⁵ Ani Izraan laga gara qachaa Ahawaatitti yaa'u biratti isaan wolitti qabee, addee guttumaa san guyyaa sad turre. Ani kolba'aa fi hayyoota yennaa toowadhe, Lewwoota achitti hin dhaggine.

¹⁶ Tanaaf sooreyyii Eli'ezer, Arii'el, Shemaa'iyaa, Elnaataan, Yaariib, Elnaataan, Naataan, Zakaariyaasii fi Meshulaam akkasuma worra qaroolee Yoyaariibii fi Elnaataan waansisee,

¹⁷ isaanille dhaqanee worra Galma Waaqa keennaa keessa tajaajilu akka nuu fidanuuf, gara Iddoo soressaa kolbaa lafa Kasiifa'aatii fi gara obboleeyyan isaa worra Galma Waaqaa keessa tajaajilanuu isaan erge.

¹⁸ Hunni Waaqaa guddoon nu woliin waan jirtuuf, isaan sanyii Mahaalii sanyii Lewwii ilma Israa'elii ka te'e nama hubataa «Sherebiyyaa» jedhamu tokko ilmaan isaatii fi obboleeyyan isaa woliin dhiira kudhanii saddeeti gara keenna fidane;

¹⁹ ammalee isaan Hashabiya'aa fi sanyii Meraarii keessaa Yeshaa'iyaa, isa woliin obboleeyyan isaatii fi ilmaan isaanii diddama,

²⁰ kana maleelle, worra Daawitii fi qondaaltoti biyyaa, Lewwoota akka gargaaranuuf kennane keessaa, tajaajiltoota Galma Waaqaa dhibba lamaa fi diddama fidane. Isaan marti maquma maqa'aan galmeeffamane.

²¹ Waaqi deemmaa teenna akka nageessu, nu'uu fi ijoollee teenna, akka-suma karra teenna mara akka nuu eegu, isa duratti gad ifi qannee isa gaafatiisaaf, laga qachaa Ahawa'aa biratti laama lasse.

²² Nuuti mootichaan, «Hunni Waaqa keennaa worra isa barbaadatu woliin jirti; worra isa lakkisu mara irratti ammoo mufiin itti hin buuti» jennee waan itti hinneerruuf, karaa irratti diinota keenna akka nu irraa eegamuuf, loltootaa fi abbootii fardo'oo mooticha kadhatuu fukkifadhe.

²³ Maarre nuuti laamiisaan marroo waan kanaa Waaqa keenna daadi-manne; innille daadimata keenna dhage'e.

Kennansa Galma Waaqaatiif Kenname

²⁴ Achiin duuba ani sooreyyii hayyootaa keessaa Sherebiya'aa fi Hashabi-iyaa hayyoota akka isaanii kudhan woliin wolumatti soressitoota hayyootaa kudhanii lama file.

²⁵ Meetii, worqi'ii fi meya adda addaa ka mootichi, gorsitooti isaa, qondaal-toti isaatii fi Israa'elooti achi jiranu martinuu Galma Waaqaatiif kennanelle madaalee hayyoota sanitti kenne.

²⁶ Wonni ani madaalee isaanitti kenne: meetii gara kiiloogiraama kuma diddamaa fi kuma lama, meya meetii irraa hujame dhibba tokko ka gara kiiloogiraama torbaatamaa madaalu, worqii gara kiiloogiraama kuma sadii fi dhibba afur,

²⁷ qorii worqii irraa hujante diddama, ta gara kiiloo saddeetii fi gi-raama dhibba afur madaaltu; akkasuma meya dansaa ka akka worqii gatii guddo'oo, ka sageettuu calalaxxuu irraa hujame lama.

²⁸ Ani hayyootaan, «Isinii fi mey kun Waaqaaf woyyoontaneertan; meeti'ii fi worqiin kennaa namooti fedha ifitiin Mootii Waan Maraa Waaqa abbootii teessaniitiif kennane.

²⁹ Meya kana kolloo Galma Waaqaa ka Yersaalem keessa jiru keessatti, sooreyyii hayyootaa, ka Lewwootaa fi ka abbootii maatii kolbaa Israa'elii duratti haga madaaltanutti miidhassa'aa eega'a!» jedheen.

³⁰ Achiin duuba hayyooti fi Lewwooti meetii, worqi'ii fi meya woyyicha Galma Waaqaa ka Yersaalem keessa jirutti geessiisaaf madaalame fuud-hane.

Gara Yersaalemii Deebi'isa

³¹ Nuuti Yersaalem dhaqiisaaf ji'a jalqabaa, guyyaa kudhanii lam-meesso'ootitti laga qachaa Ahawa'aa biraa kaane. Hunni Waaqa keennaa nu woliin waan jirtuuf, inni diinota keennaa fi worra karaa irratti riphee nu eegu irraa nu eege.

³² Maarre nuuti Yersaalem geennee, guyyaa sad achitti foorfanne.

³³ Guyyaa arfeesso'ootitti gara Galma Waaqa keennaa dhandhee meetiin, worqi'ii fi mey woyyichi madaalamee, ilma Uriiya'aa hayyicha Meremootitti kennamane; ilmi Fiineshaasii Ele'azaarii fi Lewwooti ilmi Iyaasu'uu Yoza-abaadiinii fi ilmi Biinuyii No'aadiyaan isa woliin jiraniyyu.

³⁴ Wonni martinuu laakkowantee madaalante; madaalliin waan maraatu yennuma san galmeeffante.

³⁵ Yennaa san worri boojuu irraa deebi'e, Israa'el maraaf dardaroota kudhanii lama, korbeeyyii hoole'ee sagaltamii jaa, buruusoo korbeeyyii hoole'ee torbaatamii torba Waaqa Israa'eliitiif ciincaa gubamu dhikeessane; kun martinuu ciincaa gubamu ka Mootii Waan Maraatiif dhikaate. Sababa cubbu'uutiifille, korbeeyyii re'e'ee kudhanii lama ciincaa dhikeessane.

³⁶ Isaan ajaja mootichaa bulchitoota kutaa biyya mootichaa bulchanuu fi qondaaltota kutaa biyyaa ta laga Efraaxiisii irraa gara aduun seentu jirtutti kennane; isaanille kolba'aa fi Galma Waaqaa qarqaarane.

9

Israa'elooti Fuudhaa Fi Heerumaan Makamane

¹ Wonni kun marti te'een duuba, sooressitooti gara kiyya dhufanee, «Kolbaan Israa'elii, hayyootii fi Lewwootinu adoo hin hafin kolbaa adaala isaanii jirtu Kana'aanota, Heetota, Pheriizota, Yibusoota, Amoonota, Mo'aabota, Gibxootaa fi Amoorota irraa gargar hin baane; hujii battummaa isaanii irralle'ee ifi hin eeganne.

² Isaan durra kolbaa adaala ifii fuudhanee, ilmaan ifille fuusisanee, sanyii woyyuu kolbaa adaala isaanii jirtu woliin wolitti makaneeran; sooreyyi'ii fi qondaaltoti karaa addatama dhabiisaa kana soressaneeran» jedhane.

³ Ani yennaa waan kana dhage'e, gaddaan woya'aa fi geellaa kiyya tarsaasee, rifeensa mataa kiyyaatii fi areeda kiyyaa buqqisee, nayee tee'e.

⁴ Sababa addatama dhabiisa worra boojuu irraa deebi'eetiif, worri jecha Waaqa Israa'elii sodaatee rommu na biratti wolitti qabamane; anille nayee haga ciincaa galgalaatitti achuma tee'e.

⁵ Ani yennaa ciincaan galgalaa dhikaatu, woyaa tiyyaa fi geellaa kiyya ka tarsa'e akkuma uffadhetti, gaddaan addee tee'eeruu ka'e; jilbiiffadhee, harka kiyya gara Mootii Waan Maraa Waaqa kiyyaa badhisee,

⁶ daadimadhee, «Ee Waaqa kiyya, cubbuun teenna ol kaatee mataa keenna caaltee, yakkaan teennalle ol-gubbaa waan geetteef, ani guddoo fokkifadhee, gara keeti ilaaliisaaf qaaneffadhe.

⁷ Bara abbootii teenna ta duriitii jalqannee haga ammaatitti nuuti yakkaa guddoo hujiisatti jirra; sababa cubbuu teennaatiif nuuti, moototi teennaa fi hayyooti teenna harka mootota biyya adaala keenna jiranuutitti, ijjeefamaa, booji'amaa, saamamaa akkuma adhaa kana fokkifanneerra.

⁸ Amma ammoo yennaa gabaaddu'uuf ati Mootiin Waan Maraa Waaqi keenna, nu keessaa worra garii garbummaa jalaa baasiisaan, addee woyyit-tii teeti keessa nageyaan akka le'anuu godhiisaan, ati Waaqi keenna hidhaa garbummaa'aa diqqoo nutti furiisaan, addii nuu kenniisaan, gadhaa nu'uuf laatteerta.

⁹ Nuuti garbummaa jala adoo jirruu, ati Waaqi keenna garbummaa keessatti nu hin lakkinne. Moototi Faaresii gadhaa akka nuu laafanu gootee, Galma keeti deebinne ijaariisaaf, ka bututelle suphiisaaf jiruu haareya nuu kennite; lafa biyya Yihuda'aatii fi Yerusaalem keessalle'etti dalleya woy nu irraa ittisu nuu kennite.

¹⁰ «Amma ammoo, ee Waaqa keenna, tanaan duuba maan jedhuu dan-deenna? Nuuti ajaja keeti,

¹¹ ka ati karaa tajaajiltoota teeti raagotaatiin, «Biyyi isin dhaaliisaaf itti galtanu badii kolbaa biyya saniitiin battootteerti; hujii battittii isaaniitiin qacce'ee haga qacce'ee guutanteerti.

¹² Tanaaf isin akka jabaattanuuf, waan dansaa biyyi sun baachu akka nyaattanuuf, biyya sanille ijoollee teessaniif, dhaala bara baraa gootanee akka dabarsitanuuf, durra teessan ilmaan isaaniititti hin heerumsiisina'a! Ilmaan teessanille durra isaanii hin fuusisina'a! Ijjumaa nageya isaaniif hin kennina'a; akka isaanitti tolulle hin godhina'a» jettee ka ajajje lakkinneerra.

¹³ Sababa cubbu'uu fi Yakkaa teenna guddo'ootiif tun marti nu irratti teete; ati Waaqi keenna nu hamburtee akka jiraannu goote malee, akka yakkaa teennaatitti nu hin adanne.

¹⁴ Nuuti kolbaa waan hantuu hujju waliin fuudhaa fi heerumaan wolitti makannee deebinee ajaja keeti cassinaa ree? Yoo akkas goone haga nami baraaree dhabutti aartee nu hin balleessituu ree?

¹⁵ Ee Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii, ati balcha'a; nuuti adha jiru'uun hanneerra; kunoo, yakkaa teenna waliin si dura jirra; sababa yakkaa tanaatiif nu keessaa nami si dura dhaabbatuu dande'u tokkolle hin jiru» jedhe.

10

Kolbaan Cubbuu Faaci'atte

¹ Izraan Galma Waaqaa duratti gad gombifamee, bowaa, daadimataa, cubbuulle faaci'atiisatti adoo jiruu, gumiin guddoon Israa'elootaa dhi-irti, dubarti'ii fi ijoolleen adaala isaatitti wolitti qabamane, laaleffatane bowane.

² Achiin duuba sanyii Elaamii keessaa ilmi Yehii'elii Shekaaniyaan, Izra'aan, «Nuuti dubartii kolbaa gosa ormaa ta biyya teenna keessaa fuudhi-isaan Waaqa keenna duratti addatamummaa dhanneerra; teetulle ammoo Israa'elootaaf ammalle addiin hin jirti.

³ Maarre amma nuuti akka gorsa si gootaa kiyyaatii fi akka gorsa worra ajaja Waaqaa sodaatanuutitti dubartoota tana ijoollee isaanii mara waliin ifi biraa geegessiisaaf, Waaqa keenna duratti wolii galluu ti. Tun akkuma seeraatitti teetuu ti.

⁴ Tun si harka jirti; nuutille si waliin jirra, ka'i; jabaadhuu huji!» jedhe.

⁵ Maarre Izraan ka'ee waan jedhame akka hujanuuf sooreyyii hayyootaa, Lewwootaa fi kolbaa Israa'elootaa mara kakachiise. Isaanille kakatane.

⁶ Achiin duuba Izraan Galma Waaqaa duraa ka'ee, gara kolloo Yehohaanaanii ilma Eliyaashiibii dhage. Inni yennaa achi jiru, sababa addatamummaa dhaba worra boojuu irraa deebi'eetiif gaddee, sagalee hin nyaanne; bisaanille hin unne.

⁷ Worri boojuu irraa deebi'e martinuu Yersaaleemitti akka wolitti qabamuuf, lafa Yihuda'aatii fi Yersaaleemii keessatti lassiin baate.

⁸ Nami guyyaa sad keessatti achitti hin dhaggamin hafe, murtee qondaaltotaa fi jaarsole'eetiin, waan ifii ta Mootii Waan Maraatiif akka teetu murteeffante mara dhabee, ifille'eef wolde'a worra boojuu irraa deebi'ee keessaa hin baafama.

⁹ Guyyaa sadiin san keessatti namooti Yihuda'aatii fi namooti Beniyaaminii marti Yersaaleem keessatti wolitti qabamane; ji'a sagaleesso'oo, guyyaa diddameesso'ootitti namooti martinuu dhufanee badhinna Galma Waaqaa dura jiru keessa tee'ane. Sababa haajaa wolitti qabamaneetii fi sababa roobaatiif hollatane.

¹⁰ Achiin duuba Izraan hayyichi ka'ee isaaniin, «Isin hin addatanne; dubartii orma fuudhiisaan yakkaa Israa'elii irratti yakkaa edeetaneertan.

¹¹ Amma Mootii Waan Maraa Waaqa abbootii teessaniititti cubbuu teessan faaci'adha'a; fedhii isaalle godha'a! Kolbaa adaala keessaniitii fi dubartoota orma fuutane irraa gargar baya'a» jedhe.

¹² Kolbaan wolitti qabante sun marti qoonqoo ol qabatee, «Dubbiin tun dhuga'a! Waan ati jette mara hin goona.

¹³ Te'uu malee nuuti nama heddu'u; yennaalle yennaa bokkeyaa waan teeteef, ala dhaabbatiisa hin dandeennu; nuuti dubartii orma fuunee gud-doo waan yakkeenef, dubbiin tun guyyaa tokkotti yookiin guyyaa lamatti ta dhumattuu moti.

¹⁴ Tanaaf, sooreyyiin teenna gumii baate tana mara bakka buutee, dubbii tana ilaaltuu ti. Achiin duuba mufiin Waaqa keennaa jadduun ta marroo dubbii tanaatiif nutti dhutte tun haga nu irraa deebitutti, qachaa keenna keessatti worri dubartii orma fuudhe martinuu jaarsole'ee fi abbootii mura'aa ta qachaa qachaa ifii waliin guyyaa qabatanetti dhufanuu ti!» jedhane.

¹⁵ Te'uu malee Yonaataan ilma Asaaheliitii fi Yahaaziiyaa ilma Ti-igiiwa'aa qofatti, Meshulaamii fi Shaabetaayiin Lewwichi yaada isaanii qaraaranuun dubbii tana morme.

¹⁶ Maarre worri boojuu irraa deebi'ane akkuma yaada dhikaateetitti muummessane; kanaaf hayyichi Izraan akkuma maatii isaaniititti, itti gaafatamaa maatii'ii filee maqaa maqa'aan barreesse; isaanille ji'a kudha-neesso'oo, guyyaa qaraatitti tee'anee dubbii qorqoruu jalqabane.

¹⁷ Ji'a jalqabaa, guyyaa tokkeesso'oo waan namoota dubartoota orma fuudhane qorqorane fixane.

Namoota Dubartoota Orma Fuudhane

¹⁸ Sanyii hayyootaa keessaa dubartoota orma ka fuudhaneeranu asii gad jiran: sanyii Iyaasuu ilma Yozaadaaqiitii fi obboleeyyan isaa keessaa Ma'aseyaa, Elii'ezer, Yaariibii fi Gedaaliya'a.

¹⁹ Isaan martinuu dubartoota isaanii akka lakkisanuuf kakatanee wolii galane; sababa yakkaa isaaniitiif tokko tokkoon isaanii ciincaa sababa yakka'aatiif dhikaatu korbeessa hoole'ee tokko tokko dhikeessane.

²⁰ Sanyii Iimerii keessaa, Haanaanii fi Zebaadiya'a.

²¹ Sanyii Haariimii keessaa, Ma'aseyaa, Eliyaa, Shemaayaa, Yehii'elii fi Uziya'a.

²² Sanyii Phashihurii keessaa, Eliyo'enaayi, Ma'aseyaa, Ishimaa'el, Nataani'el, Yozaabaadii fi Eli'aasa'a.

²³ Lewwoota keessaa, Yozaabaad, Shime'ii, Qelaayaa ka «Qeliixaa» jedhamu, Phetaahiyaa, Yihuda'aa fi Elii'ezer.

²⁴ Faarsitoota keessaa, Eliyaashiib. Eeddota karraa keessaa, Shaalum, Xelemii fi Uri'i.

²⁵ Israa'eloota dhibii keessaa: Sanyii Faaroshii keessaa, Ramiiyaa, Yiziiyaa, Malkiiyaa, Miyaamin, Eli'aazaar, Malkiiya'aa fi Benaaya'a.

²⁶ Sanyii Elaamii keessaa, Mataaniyaa, Zakaariyaas, Yehii'el, Abdi, Yermootii fi Eliyaa.

²⁷ Sanyii Zaatuu keessaa, Elyo'enaayi, Eliyaashiib, Mataaniyaa, Yeremoot, Zaabaadii fi Aziiiza'a.

²⁸ Sanyii Bebaayii keessaa, Yehohaanaan, Hanaaniyaa, Zaabayii fi Aati-laayi.

²⁹ Sanyii Baanii keessaa, Meshulaam, Maluuk, Adaayaa, Yaashub, Shi'eelii fi Yiremooti.

³⁰ Sanyii Fa'aat-Mo'aabii keessaa, Adinaayi, Kilaal, Benaayaa, Ma'aseyaa, Mataaniyaa, Bezaali'el, Biinuyii fi Minaase'e.

³¹ Sanyii Haariimii keessaa, Elii'ezer, Yishiiyaa, Malkiiyaa, Shemaayaa, Shimi'oon,

³² Beniyaamin, Maluukii fi Shemaariya'a.

³³ Sanyii Hashumii keessaa, Matenayi, Mataataa, Zaabaad, Eliifelex, Yere-maay, Minaase'ee fi Shime'i.

³⁴ Sanyii Baanii keessaa, Ma'aadaayi, Amraami, U'el,

³⁵ Benaayaa, Bediyaa, Keluhuu,

³⁶ Waanyaa, Meremoot, Eliyaashiib,

³⁷ Mataaniiyaa, Matenayii fi Yaa'asaawu'u.

³⁸ Sanyii Biinuyii keessaa, Shime'ii,

³⁹ Shelemiiyaa, Naataan, Adaayaa,

⁴⁰ Maknadebaay, Shaashaay, Shaaray,

⁴¹ Azaari'el, Shelemiiyaa, Shemaariyaa,

⁴² Shaalum, Amaariya'aa fi Yoseef.

⁴³ Sanyii Neboo keessaa, Ye'ii'el, Matiitiyaa, Zaabaad, Zebiinaa, Yaadaay, Yo'elii fi Benaaya'a.

⁴⁴ Namooti kun martinuu worra dubartoota orma fuudhane; isaan keessaa gariin dubartoota san irraa ijoollee uumataneeran.

Kitaaba Nahimiya'aa Seensa

Kitaab Nahimiya'aa kutaa afuritti qoodamuu dande'a: (1) Nahimiyaan Yihudaa bulchiisaaf mootummaa Faaresiitiin addee ergameeruu, gara Yersaaleemii deebi'uu isaa. (2) Deebi'ee ijaaramiisa dalleya Yersaaleemii. (3) Dubbifama ulfaataa Seera Waaqaa ka Izraan dubbisee fi cubbuu faaci'atiisa kolba'aa. (4) Nahimiyaan mootii Yihuda'aa te'ee hujii dhibii inni huje.

Kitaaba kana keessatti wonni mudhatu beekkamaan tokko, Waaqatti irkatiisa guddaa Nahimiya'aatii fi daadimata gargar hin cinne ka inni daadimate.

Haadhoo Dubbi'ii

Nahimiyaan gara Yersaaleemii deebi'e *1:1–2:20*

Deebi'ee ijaaramiisa dalleya Yersaaleemii *3:1–7:73*

Seerri dubbifame; Gondooroolle haareffante *8:1–10:39*

Hujii dhibii Nahimiyaan huje *11:1–13:31*

Nahimiyaan Kolbaa Ifitiif Daadimate

¹ Jechooti Nahimiyaan ilma Kaalya'aa kana. Artashaastan mootii Faaresii te'ee woggaa diddameesso'ootitti, ji'a kiisluu jedhamu keessa, ani qachaa guddicha susaan jedhamu keessa adoo jiruu,

² obboleeyyan tiyya keessaa tokkochi, Haanaan, jara takka woliin Yihudaa irraa dhufe; anille marroo Yihudoota worra adoo hin booji'amin achitti hafee lubbu'uun jiruu fi marroo Yersaaleemii isaan gaafadhe.

³ Isaan deebisane, «Worri adoo hin booji'amin hafee adaala san keessa lubbu'uun jiru, rakkinna gudda'aa fi salphinna keessa jiran; dalleenni Yersaaleemii caccabee jigeera; balbalti isi'iille ibiddaan gubatteerti» jedhane.

⁴ Ani yennaa jecha kana dhage'e gad tee'ee bowe; guyyaa hedduu gaddee, Waaqa ol-gubba'aa duratti laamee daadimadhe.

⁵ Daadimata kiyya keessatti, «Ee, Mootii Waan Maraa Waaqa ol-gubba'aa! Ati gudda'a; sodaachisa'alle'e. Worra si jaalatuuf, worra ajaja keeti eegatuu-fille, gondooroo teetii fi jaalala keeti ka bara baraa ka eegattu,

⁶ daadimata ani garbichi keeti si duratti halkanii fi guyyaa tajaajiltoota teeti, kolbaa Israa'eliitiif amma daadimadhu, gurri keeti dhage'uu ti; ilti teetille dhaggituu ti. Cubbuu nuuti kolbaan Israa'elii hunye hin faaci'adha. Anii fi abbootiin tiyya yakkineerra.

⁷ Nuuti si duratti daba hunyeerra; ajaja keetii fi sirna, seerata ati tajaajilaa keeti Muusee ajajjelle hin eeganne.

⁸ Ati, «Isin yoo addatamuu dhaddane, ani worra Yihudoota hin te'in odduu isin bittinneessa;

⁹ isin ammoo yoo gara kiyya deebitanee fi ajaja kiyya eegattanee tolchitane, haga qaccee biyya lafaa bittinnoottanulle, ani achii wolitti isin qabee deebisee addee maqaan kiyya akka itti waamamuuf filadhetti isin fida» jecha jettee garbicha keeti Muusee ajajje qaabadhu.

¹⁰ Isaan tajaajiltoota teetii fi kolbaa teeti, ta ati harka keeti jaba'aa fi hunna teeti guddoon wodatte.

¹¹ Ee Gootta'a, gurri keeti daadimata ana tajaajilaa keetiitii fi daadimata tajaajiltoota teeti worra maqaa keeti ulfeessiisatti gammaduu dhage'uu ti.

Mootichi kun akka naa mararu godhiitii, adha tajaajilaa keeti milkeessi!» jedhe.

Yennaa san, ani nama mootichaaf daadhii dhikeessu.

2

Nahimiyaan Gara Yersaaleemii Dhaqe

¹ Artashaastan mootii te'ee woggaa diddameesso'ootitti, ji'a «Niisaan» jedhamu keessa, yennaa daadhiin woyni'ii isaaf qophootte, ani daadhii woyni'ii fuudhee mootichaaf kenne. Ani duraan isa duratti gaddee hin beekuuyyu.

² Maarre mootichi, «Ati adoo hin dhibamin, maaf gaddite? Kun gadda gadha'aa ti malee, waan dhibi'ii moti» naan jedhe.

Achiin duuba ani guddoo sodaadhee,

³ mootichaan, «Mooticha, bara baraan jiraadhu! Yennaa qachaan, addeen abbootiin tiyya itti awwaalamane diigamu, balbalti isaa duudiille ibiddaan gubatee baddu, ani maaf hin gaddine ree?» jedheen.

⁴ Achiin duuba mootichi, «Maan akka sii godhu barbaadda ree?» naan jedhe. Maarre ani Waaqa ol-gubba'aa daadimadhee,

⁵ mootichaan, «Fedhii teeti yoo teete, ani tajaajilaan keeti si duratti fudhatama yoo dhaggadhe, qachaa abbootiin tiyya itti awwaalamane san deebisee akka ijaaru, gara lafa Yihuda'aa akka na ergitu barbaada» jedheen.

⁶ Achiin duuba mootichi, «Haga guyyaa meeqaa ideenta? Yoom deebita?» naan jedhe; mootichi ana ergiisaaf waan gammadeef, anille guyyaa meeqa akka deemu itti hime. Yennaa san giittiille isa bira teetteerti.

⁷ Achiin duuba ani mootichaan, «Fedhii teeti yoo teete, haga Yihudaa gewutti nageyaan akka na dabarsanu, bulchitoota lafa laga Efraaxiisiitiin gamaatiif xalayaa naa barreessi;

⁸ karra dalleya Galma Waaqaatiif, balbala dalleya qacha'aatiif, mana ani keessa le'ulle'eef muka gugurdaa akka naa kennuuf, Asaafii gongomaa mootumma'aa eegulle'eef xalayaa barreessii ajaji» jedhe. Waaqi waan na waliin jiruuf, mootichi waan ani gaafadhe mara naa kenne.

⁹ Achiin duuba mootichi qondaaltota loltootaatii fi abbootii fardaa na waliin erge; anille gara worra bulchitoota lafa laga Efraaxiisiitiin gamaa dhaqee, xalayaa mootichaa itti kenne.

¹⁰ Namichi qachaa Bet-Horoonii Sanbalaaxii fi qondaaltichi nami biyya Amoonii Xobiiyaan, nami tokko Israa'elootaaf waan dansaa hujiisaaf akka dhufe yennaa dhage'ane, akka malee aarane.

Nahimiyaan Deddeemee Dalleya Ilaale

¹¹ Maarre ani Yersaaleem dhaqee, guyyaa sad achi ture.

¹² Achiin duuba ani namoota diqqaa tokko waliin halkaniin ka'e; Yersaaleemiif akka ani hojjadhu waan Waaqi gadhaa kiyya keessa keye nama tokkole'etti himee hin jiruuyyu. Geejjibi ani fudhadhee deeme geejjiba irra tee'e qofa.

¹³ Ani halkaniin karaa karra dhooqaa bayee madda jawwe'ee dabaree karra kosi'ii dhaqe; dalleya Yersaaleemii ka diigamee fi karra isi'ii ta ibiddaan gubatee badde ilaale.

¹⁴ Achiin duuba gara karra madda bisaaniitii fi baleessa mooti'ii dhaqe; ammoo geejjibi ani irra tee'eeru karaa dabaru dhabe.

¹⁵ Maarre ani halkaniin dalleya ilaalaa karaa dhooqaa ol baye. Achiin duuba duubatti deebi'ee, karra dhooqaa seenee deebi'ee gale.

¹⁶ Qondaallan eessa akka ani dhaqeeru yookiin maan akka ani hujiisatti jiru hin beenne; Yihudootatti, hayyootatti, worra gugurda'atti, qondaaltota, namoota dhibii worra hujii huju'uu jirulle'etti hin hinne.

¹⁷ Achiin duuba ani isaaniin, «Rakkinna nuuti keessa jirru isin hin dhag-gitan; Yersaalem jiddeerti; karri isi'iille gubatteerti; tanaaf hagara achi akka hin salphanneef, kowa'a dalleya Yersaalemii deebinee ijaarra» jedhe.

¹⁸ Anille Waaqi attam akka na woliin jiraatee na qarqaaree fi jecha mootichi naan jedhelle isaanitti hime. Achiin duuba isaan, «Deebinee ijaariisa jalqannuu ti!» jedhane. Maarre isaan hujii dansaa tana jalqabiisaaf qophowane.

¹⁹ Nami qachaa Bet-Horoonii Sanbalaaxii fi qondaaltichi nami biyya Amoonii Xobiiyaan, Geshemiin arabichille waan nuuti karoofanne yennaa dhage'ane ammoo, busheeshanee, nu qaannessanee, «Wonni isin hujiisatti jirtanu kun maan inni? Isin mooticha finqiliisaan mormiisatti jirtanii?» jedhane.

²⁰ Achiin duuba ani deebisee, «Waaqi ol-gubba'aa nu hin milkeessa; nuuti tajaajiltooti isaa kaanee ijaariisa hin jalqanna; isin ammoo Yersaalem keessaa qooda yookiin waan nu'uuf te'a jettanu yookiin haga dabarsi'ii hin qaddanu» jedheen.

3

Deebi'ee Ijaaramiisa Dalleya Yersaalemii

¹ Achiin duuba hayyichi guddaan Eliyaashiibii fi hayyooti isa woliin hujanu «Karra hoolotaa» ta jedhantu deebisane ijaarane, Waaqaaf adda baasane cufanaa itti naqane; isaan haga xelleephoo dhaka'aa «Dhibba» jedhantuu fi haga xelleephoo Hanaani'eliititti Waaqaaf adda baasane.

² Namooti Yeriko'oo ka itti aanu ijaarane. Zakuriin ilmi Iimriille ka itti aanu ijaare.

³ Ilmaan Hasenaa «Karra qurxummi'ii» ta jedhantu ijaarane; karra saniif utubaa dhaabane, cufanaa itti hujane, danqaraa itti hujane.

⁴ Ilmi Uriiya'aa Meremoot, akaakoon Haqosii ka itti aanu deebisee ijaare. Ilmi Berekiiya'aa Meshulaam, akaakoon Meshezaabi'elii ka itti aanu deebisee ijaare.

Zaadoq ilmi Ba'ana'aa ka itti aanu deebisee ijaare.

⁵ Worri Teqo'aa ka itti aanu deebisee ijaare; sooreyyiin isaanii ammoo, itti gaafattantoota hujii'itiif ajajamane hujisa didane.

⁶ Ilmi Phaasehaatii Yoyaada'aa fi ilmi Besodeya'aa Meshulaam karra dullattii deebisane ijaarane. Isaan karra saniif utubaa dhaabane, cufanaa itti hujane, danqaraa itti hujane.

⁷ Melaaxiiyaan Giibe'ontichi, Yaadon Merontichi akkasuma worri Giibe'oniitii fi worri Miispha'aa haga addee teessoo bulchaa lafa laga Efraaxiisii irraa gara aduun seentuu, ka itti aanu deebisane ijaarane.

⁸ Ilmi Haarhaya'aa Uzii'el ka worqii tumu, ka itti aanu deebisee ijaare. Hanaaniyaan fiqiree tolchu, ka itti aanu deebisee ijaare. Isaan haga addee, «Dalleya badhaa» jedhantuu Yersaalem deebisane ijaarane.

⁹ Ilmi Huurii Refaayaan, ka gamisa aanaa Yersaalemii bulchaa ture, ka itti aanu deebisee ijaare.

¹⁰ Ilmi Harumaafii Yedaa'iyaan mana ifii biraan, ka itti aanu deebisee ijaare; ilmi Hashabniya'aa Haxushi, ka itti aanu deebisee ijaare.

11 Ilmi Haariimii Malkiiya'aa fi ilmi Phaahat-Mo'aabii Hashub kutaa dhibi'ii fi «Xelleephoo addee ibiddaa» jedhantu deebisanee ijaarane.

12 Ilmi Haloreshii Shaalum, ka gamisa aanaa Yerusaaemii dhibii bulchuu fi durri isaa, ka itti aanu deebisanee ijaarane.

13 «Karra dhooqaa» ta jedhantu, Hanuunii fi worra Zaano'aatitti deebisee ijaare; isaan haga karra, «Karra kosi'ii» jedhantuutitti meetira 440 deebisanee ijaarane, cufanaa itti hujanee, danqaraa itti hujane.

14 Ilmi Rekaabii Malkiiyaan, bulchaan aanaa Bet-Hakeremii karra, «Karra kosi'ii» jedhantu deebisee ijaaree, cufanaa itti hujee, danqaraa itti hujee.

15 Ilmi Kolhozee Shaalum, bulchaan aanaa Miispha'aa karra, «Karra maddaa» jedhantu deebisee ijaaree, gosee itti ijaaree, cufanaa itti hujee, danqaraa itti hujee; inni dalleya baleessa shela'aa ka fichaa mootichaattitti aanu irraa, haga sadarkaa qachaa guddicha Daawitii ka irii gadi buusuutitti deebisee ijaare.

16 Ilmi Azbukii Nahimiyaan ka gamisa aanaa Bet-Zuurii bulchaa ture, irreensa Daawitii fuula duraa kaasee haga baleessa nami hujetii fi haga mana worra jannootaattitti, ka itti aanu deebisee ijaare.

Lewwoota Worra Dalleya Ijaare

17 Worri Lewwootaa, ilma Banii Rehuumiin sooreffamanee dalleya itti aanu deebisanee ijaarane.

Hashabiiyaan bulchaan gamisa aanaa Qeyila'aa, qooda aanaa ifii ka itti aanu deebisee ijaare.

18 Ilmi Henaadaadii Biinuyi, ka gamisa aanaa Qeyila'aa dhibii bulchu, ka itti aanu ijaare.

19 Ilmi Yesuu'aa Ezer, ka Miisphaa bulchu, mana meya lolaa keyatanu fuula duraa jalqabee, haga addee dalleenni dhagee itti dabuu, ka itti aanu deebisee ijaare.

20 Ilmi Zaabayii Baaruki, addee dalleenni dhagee itti dabu irraa kaasee, haga seensuma mana hayyicha guddaa Eliyaashiibii, ka itti aanu deebisee ijaare.

21 Ilmi Uriiya'aa Meremoot, akaakoon Haqosii balbala mana Eliyaashiibii irraa kaasee, haga dhuma mana isaattitti deebisee ijaare.

Hayyoota Dalleya Ijaarte

22 Hayyooti adaala Yerusaaemii le'anuu, dalleya itti aanu deebisanee ijaarane.

23 Beeniyaaminii fi Hashub mana ifitiin dura ka itti aanu deebisanee ijaarane; ilmi Ma'aseya'aa Azaariyaan, akaakoon Anaaniiyaa'aa ka cinaa mana ifii deebisee ijaare.

24 Ilmi Henaadaadii Biinuyi dhuma mana Azaariya'aatii kaasee haga dalleenni dhagee itti dabu, ka itti aanu deebisee ijaare.

25 Ilmi Uzaayii Pha'alal addee dalleenni dhagee itti dabuu fi xelleephoo eeddoo mana mootumma'aa ka gatiitti'ii biraa jalqabee, ka itti aanu deebisee ijaare; itti aansee ilmi Phaarooshii Phedaaya'aa

26 fi tajaajiltooti Galma Waaqaa worri gaara Ofeelii gubbaa le'u haga fuula dura karra, «Karra bisaanii» jedhantu, ta gara aduun baatuutii fi haga fuul dura xelleephoo eeddo'ootitti, ka itti aanu deebisanee ijaarane.

27 Worri Tego'aatii xelleephoo eeddo'oo guddittii fuula duraa kaasee, haga dalleya Ofeelii, ka itti aanu deebisee ijaare.

28 Worri hayyootaa tokko tokkonuu mana ifii fuul duraan karra, «Karra fardaa» jedhantuun gara kaabaatiin, ka itti aanu deebisanee ijaarane.

²⁹ Ilmi Iimerii Zaadoq mana ifii duraan deebisee ijaare; ilmi Shekaaniya'aa Shemaa'iyaan, ka karra gara aduun baatuu eegu, ka itti aanu deebisee ijaare.

³⁰ Ilmi Shelemiyya'aa Hanaaniya'aa fi ilmi Zalfa'aa ka jayeesso'oo Hanuun, gooda ifii ka lammeesso'oo, ka itti aanu deebisane ijaarane. Ilmi Berekiyya'aa Meshulaam mana ifii duraan, ka itti aanu deebisee ijaare.

³¹ Namichi worqii tumu Malkiyyaan haga mana tajaajiltoota Galma Waaqaatii fi mana daldaltoota ka fuul dura karra, «Karra eeddo'oo» jedhan-tuu fi kutaa manaa ta addee dalleenni dhaqee itti dabuun gubba'aa, ka itti aanu deebisee ijaare.

³² Worri worqii tumuu fi daldaltooti, wodhakkaa kutaa manaa, ta addee dalleenni dhaqee itti dabuu fi karra hoole'ee jirtu deebisane ijaarane.

4

Nahimiyaan Worra Hujii Isa moromu Injifate

¹ Nuuti Yihudooti dalleya deebinne ijaariisa akka jalqanne Sanbalaax yennaa dhage'e, aaree guddoo mufatee, nutti murge.

² Inni jaalota ifitii fi loltoota Samaariya'aa duratti, «Yihudooti dadhabooti tun maan hujisatti jiran? Isaan dalleya deebisane hin ijaaranii? Isaan ciincaa dhikeessaaranii? Isaan guyyuma tokkotti hujanee fixaaranii? Isaan dhakaa gubatee caccabee tuulame kanaan akkuma inni jirutti deebisane ittiin ijaaru hin dande'anii?» jedhe.

³ Xobiiyaan Amoontichi ka isa bira jiru, «Dalleya dhaka'aa ka isaan ijaariisatti jiranu san, jeedalti takka adoo irra baate caccassitee jissiiisa dandeetti!» jedhe.

⁴ Ani Nahimiyaan, «Ee Waaqa keenna! Nuuti waan tuffatanneef nuu dhage'i; arraba isaanii matuma isaaniititti deebis; akka isaan saamamanuuf, biyya ormaatitti dabarsii isaan kenni.

⁵ Isaan nu worra ijaaru waan arrassanneef, yakkaa isaanii hin dhossin; cub-buu isaaniille fuula keeti duraa akka baddu hin godhin» jedhee daadimadhe.

⁶ Maarre kolbaan hujisaaf dharraa waan qadduuf, nuuti dalleya deebinne ijaarree, haga dheerinna dalleyaa geessisiisaaf wodhakkeessinee, dalleya mara wol geessinne.

⁷ Sanbalaaxii fi Xobiiyaan, worri Arabaatii fi worri Amoonii, worri Ashidoodiille akka nuuti dalleya Yersaalemii deebinne, akka dansaa ijaariisatti jirruu fi addee duwwaalle akka duuchine yennaa dhage'ane, isaan guddoo aarane,

⁸ isaan martinuu gara Yersaalemii dhufanee, loliisaa fi jeeqiisaaf wolitti qabamane mala dhowane.

⁹ Nuuti ammoo gara Waaqa keennaa daadimannee, isaan ifi irraa dhoog-gatiisaaf eeddota halkanii fi guyyaa eegamu godhane.

¹⁰ Yoos kolbaan Yihuda'aa, «Nuuti ba'aa ba'atiisa waan dadhanneef, caccabaan woyiille guddoo waan bacateef, nuuti dalleya ijaariisa hin dan-deennu» jedhane.

¹¹ Diinoti keenna, «Adoo isaan hin beekin yookiin adoo isaan womaa hin dhaggin, nuuti dursinee isaanitti dhunnee isaan ijjeennee, hujii isaanii dhaabbachiinna» jedhane.

¹² Yihudooti worri adaala diinota keennaa le'anuu, diinoti keenna addee maraa dhufanee nu loliisaaf, mala nutti dhowane yennaa hedduu nutti himane.

¹³ Tanaaf ani namoota dalleya duubaan addee ijaarsi hin fixamin, shallaa-gaa, ebo'oo fi guubee qabachiisee, maatii maatii'in kushee qabachiise.

¹⁴ Ani akka kolbaan sodaatte dhaggee, kolba'aa fi sooreyyii isaaniitiin, qondaalotalle'een, «Diinota keessan hin sodaatina'a. Waaqi guddaan sodaatamaan, worra keessaniif, ijoollee teessaniif, haadhotii manaa teessaniif, maatii teessaniif akka isiniif lolu qaabadha'a» jedheen.

¹⁵ Diinoti keenna mala isaanii akka nuuti beenne dhage'anee, Waaqille yaada isaanii akka hongeesse yennaa hubatane, nuuti martinuu gara dalleya deebinne ijaariisaa dachaane.

¹⁶ Guyyaa san irraa jalqabee, namoota kiyya keessaa gamisi isaanii hujii ijaarsaa hujane; gamisi isaaniille eboo, wontee, guube'ee fi meya lolaa hidhatanee eeddoo dhaabbatane. Sooreyyiin teennalle kolba'aaf qarqaarsa guutuu kennituun,

¹⁷ kolbaan dalleya deebittee ijaartiiyyu. Worri waan dalleya ittiin ijaaranu ba'atuuyyuu, harka tokkoon hujii hujaa, harka kaaniin meya woraanaa qabatane diina ifi irraa dhooggatiisaaf qophowaneeraniyyu.

¹⁸ Worri dalleya ijaaru marti yennaa dalleya ijaaru, shallaagaa ifii hidhatti hidhatee ijaaraayyu. Namichi tultullaa afuufu na biraa hin gorre.

¹⁹ Ani kolba'aan, sooreyyi'ii fi qondaaltota isaaniitiin, «Hujiiin hujii guddoo fi badhoo waan teeteef, nuuti dalleya irra wol irraa faffagaan-neerra.

²⁰ Qoonqoo tultullaa yoo dhageettane, gara keenna birmadha'a*. Waaqi keenna nu'uuf hin lola» jedheen.

²¹ Maarre guyyuma guyya'aan, dayya'a boru'uutii haga halkan urjiin bayutti namoota keenna keessaa gamisi dalleya ijaaraa, gamisi eboo qabatane eegaaraniyyu.

²² Anille yennaa san kolba'aan, «Halkan eegaa, guyyaa akka nuuf hujanu namooti martinuu tajaajiltoota ifii woliin qachaa Yersaaleemii keessa bulanuu ti» jedheen.

²³ Maarre anille yookiin worri kiyyalle yookiin tajaajiltooti tiyyalle yookiin namooti eeddoo na gula deemanulle nami tokkolle woyaa teenna ifi irraa hin baafanne. Yennaa bisaan dhaquuyyuu nami tokkolle meya ifii ka woraanaa harka middicha irraa lafa hin keenne.

5

Nahimiyaan Hiyyeeyyii Qarqaare

¹ Yennaa takka dhiiraa fi dubartiin Yihudootaa hedduun, Yihudoota sooreyyii ifii mormanee iyyatiisa jalqabane.

² Isaan keessaa gariin, «Nuuti maatii hedduu qanna; akka nyaannee jiru'uun leenuuf, midhaan dhaggachuu nu barbaachisa» jedhane.

³ Worri dhibiin, «Bara beelaa midhaan dhaggatiisaaf, fichaa keenna, addee woynii teennaa, mana keennalle qassiinneerra» jedhane.

⁴ Worri dhibiille, «Fichaa keennaa fi addee woynii teennaatiif, gibira mootumma'aa kaffaliisaaf beesee liqeeffanneerra.

⁵ Nuuti akkuma Yihudoota kaanii Yihudoota; ijoolleen teennalle akkuma ijoollee isaanii ti; te'uu malee nuuti ijoollee teenna akka garboota te'anu gooneerra; ammumaayyuu ijoolleen teenna ta durraa gariin garbooma-neeran; fichaa keennaa fi addeen woyni'ii teenna waan nu irraa fudhatamaneef, nuuti hunna dhanneerra» jedhane.

⁶ Ani yennaa iyyata isaanii kana dhage'e guddoo aare.

* **4:20** Birmadha'a: Yookiin nutti reeba'a yookiin gara keenna dacha'a'ajechu'u.

⁷ Guddisee itti yaadeen duuba, worra gugurda'aa fi qondaaltotaan, «Isin attam kolbaa teessan irraa dhala liqa'aa fudhattan!» jedhee aaladhe; isaan waliin dubbii tana ilaaliisaaf gumii guddoo waamee,

⁸ «Nuuti haga dandeennetti, worra keenna Yihudoota ka gosa dhibi'itti gurguramane wodiisatti jirra; amma ammoo isin worrummaan keessan garba te'anee akka isinitti gurguramanu hunnaan godhiisatti jirtan!» isaaniin jedhe. Isaan waan jedhanu dhabanee cadhisane.

⁹ Maarre ani, «Wonni isin hujiisatti jirtanu dansa'aa moti; akka worri diina keennaa nu hin qaanessine, isin Waaqa sodaatiisaan ideemiisa maltane.

¹⁰ Anii fi worri kiyya, tajaajiltooti tiyyalle beese'ee fi midhaan kolba'aaf ligeessineerra. Dhala liqa'aa fudhatiis hafuu ti.

¹¹ Fichaa isaanii, addee woynii isaanii, oorruu muka ejersaa isaanii, mana isaanille deebisa'aaf; akkasuma dhala beese'ee, dhala midhaanii, dhala woyni'iitii fi zayiti'ii ammuma lakkisa'aaf» jedheen.

¹² Achiin duuba worri gugurda'aa fi qondaaltoti, «Nuuti waan mara hin deebinna; waan tokkolle deebinee isaan irraa hin barbaannu; akkuma ati jette hin goona» jedhane.

Ani hayyoota waamee, sooreyyiin akkuma waadaa galane akka godhanu, akka kakachiisanu godhe.

¹³ Achiin duuba ani hiituu hidhaa hiikadhee, hargufee, «Maarre nama waan waadaa gale kana hin goone, manaa fi karra isaa irraa Waaqi isa hargufuu ti! Hargufamee duwwaa hafuu ti!» jedhe. Gumiin martinuu, «Ameen» jettee Mootii Waan Maraa galateeffatte. Worri gugurda'aa fi qondaaltoti akkuma jedhane godhane.

Arjummaa Nahimiya'aa

¹⁴ Artashaastan woggaa diddameessoo isaatitti mootii te'ee, haga woggaa soddonii lammeessoo isaatitti, ani biyya Yihuda'aa bulchiisaaf filamee woggaa kudha lama bulche keessatti, anii fi worri kiyya sagalee bulchaa tokkoof malte hin nyaanne.

¹⁵ Bulchitooti anaan dura biyya bulchaa turane, ba'aa ulfaattuu kolba'atti fe'anee, sagale'ee fi daadhii woyni'ii irratti dabalane, meetii sheeqelii afurtama fudhataa turane. Tajaajiltooti isaaniituu kolbaa irratti goottomanee turane. Ani ammoo Waaqa waan sodaadhuuf, akkas hin goone.

¹⁶ Ani hujii dalleya kanaatiif ifi kenne malee, lafalle hin bitanne; tajaajiltooti tiyya ta huji'iif wolitti qabantelle akkasuma tolchite.

¹⁷ Gosa biyya adda addaa worra adaala keennaa gara keenna dhufane irratti dabalamanee, Yihudoota fi qondaaltoti namoota dhibbaa fi shantamatti gorii tiyyatti nyaataa ture.

¹⁸ Guyyuma guyya'atti sangaa tokkoo fi hoolota cocooma jaa, lukkuu hedduu, guyyaa kudhan kudhanitti daadhii woyni'ii ta gosa adda addaatitti* qophowaayyu. Te'uu malee, ba'aan ulfaattuun kolbaa irra waan jirtuuf, sagalee bulchaa tokkoof malte ani hin gaafanne.

¹⁹ Ee Waaqa kiyya, waan ani kolbaa tanaaf godhe mara qaabadhuutii, naaf arjoom.

6

Nahimiya'atti Mala Dhowane

* **5:18** *Daadhii woyni'ii ta gosa adda addaa:* jechuun tun daadhii woyni'ii o'ituu yookiin ta turte daadhii godduu akka qopheessane ilaalaa.

¹ Karra dalleyaatitti cufanaa godhuu dhabulle, addeen duwwaan adoo hin hafin dalleya deebisee akka ani ijaare Sanbalaax, Xobiiya'aa fi Gesheemii Arabichi, diinoti keenna worri kuunille yennaa dhage'ane,

² Sanbalaaxii fi Gesheem nama natti erganee, «Koyiitii olloota diida Onoo jedhamutti dhaggamu keessaa tokkochatti wol dhagginaa» jedhane. Isaan ammoo na miidhiisaaf yaadatane.

³ Maarre anille ergantoota isaanitti ergee, «Ani hujii guddoo waan hujisatti jiruuf, gad dhufuu hin dande'u; haga ani dhiisee gara keessan gad dhufutti, hujiiin maaf dhaabbatti ree?» jedheen.

⁴ Isaan yennaa afur erguma tana natti ergane; anille deebuma tana isaaniiif deebise.

⁵ Sanbalaax tajaajiltoota ifii keessaa tokkotti xalayaa banaa chaappaa hin qanne kennee, erguma durii san itti himee, yennaa shaneesso'oo gara kiyya erge.

⁶ Wonni xalayaa san keessatti barreeffameeru, «Atii fi Yihudooti mootummaa irratti ka'iisaaf yaaddanee dalleya deebittanee ijaariisatti akka jirtanu, gosa kolbaa adaala kana jirtu oddu'utti odeeffameera; dubbiin tun dhugaa te'uu isi'ii Gesheem natti himeera; akka odeeffama kanaatitti ati mootii isaanii te'iisaaf halchita.

⁷ Ati mootii Yihudootaa akka teete Yerusaaalem keessatti raagota si'iif lassanu kaafatteerta; maarre dubbiin tun mooticha bira waan geettuuf, anii fi ati woliin mari'annaa koy!» jedha.

⁸ Ani ammoo, «Dubbiin tun waan ati ifi keessaa fuutee dubbatte; wonni ati jettu tokkolle dhuga'aa moti» jedhee isaaf deebise.

⁹ Isaan, nu'uun, «Harki isaanii irraa bu'ee hujii dadhaban; hujiiille adoo hin fixamin hafu'uu jirti» jedhane yaadaa, marti isaanii nu sodaachisuu barbaadane; ani ammoo, «Ee, Waaqa hunna na jabeessi!» jedhee daadimadhe.

¹⁰ Gaafa tokko ani gara mana Shemaa'iyaa ilma Dalaa'iyaa akaakoo Mahexaabelii ka manni itti cufameeruu dhage; innille, «Namooti halkaniin si ijjeesiisaaf waan dhufaaranuuf, anii fi ati dhandhee Galma Waaqaa keessatti, balbala cufannee dhokannuu ti» naan jedhe.

¹¹ Ani ammoo, «Ani nama baqatee dhokatuuf? Yookiin nami akka kiyyaa jiruu ifii fayyifatiisaaf Galma Waaqaa keessatti hin dhokataa? Ani Galma Waaqaa keessatti hin dhokadhu!» jedhe.

¹² Sanbalaaxii fi Xobiiya'atti, namichi kun akka na irratti raaga dubbattuuf beese'een bitane malee, Waaqi akka isa hin ergin hubadhe.

¹³ Ani sodaadhee waan kana godhiisaan cubbuu akka hujuuf, maqaa badaa ittiin na fukkisiisanu akka ani qabaadhuuf inni natti bitame.

¹⁴ Anille, «Ee, Waaqa kiyya, Xobiiya'aa fi Sanbalaax fa'a akkasuma No'aadiiyaa raagittii, raagota worra dhibii ka na sodaachisane akka hujii isaaniititti ilaali!» jedhee daadimadhe.

Ijaarsi Dalleyaa Fixame

¹⁵ Ijaarsi dalleyaa guyyaa shantamii lama keessatti ji'a Elul jedhamu keessa gaafa guyyaa diddamii shanii fixame.

¹⁶ Diinoti keenna gosi adda addaa ta adaala keennaa marti waan kana yennaa dhage'ane, hujiiin tun qarqaarsa Waaqaatiin akka hujante hubatane, qaanowanee sodaatane.

¹⁷ Yennaa san qondaallan biyya Yihuda'aa xalayaa hedduu gara Xobiiya'aa erganee, Xobiiyaalle deebii isaanii deebise.

¹⁸ Sababille Xobiiyaan intala Shekaaniyaa ilma Araa waan fuudheeruuf, akkasuma ilmi isaa Yehohaanaan intala Meshulaamii ilma Berekiiyaa waan fuudheeruuf, Yihudoota keessaa namooti hedduun isaaf kakataneeran.

¹⁹ Itti dabalaneelle hujii isaa dansaa natti himaa, waan ani dubbadhulle isatti himaa turane; Xobiiyaalle na sodaachisiisaaf xalayaa natti ergaa ture.

7

¹ Dalleenni deebi'ee ijaaramee, cufanaan itti keyameen duuba, worra karra eeguuf, worra faarfatu fi worra Lewwootaatiif hujii isaanii kennanteef.

² Anille qachaa Yersaaleemii akka bulchanuuf, namoota lama file; isaanille obboleessa kiyya Haanaanii fi Hanaaniya'a; Hanaaniyaan nama itti gaafatamaa kushe'ee*, nama addatama'aa fi nama namoota hedduu caalaa Waaqa sodaatu.

³ Anille, «Barrii haga aduun o'itutti karri Yersaaleemii akka hin bananne, galgala worri karra eegu adoo hin galin dura karra cufee akka danqaru, akkasuma Worra Yersaaleem keessa le'u keessaa eeddota filanee, gariin addee eegamuu malte akka eeganu, gariin adaaluma mana ifii akka eeganu fila'a» jedhee isaan ajaje.

Laakkossa Worra Booji'amee Deebi'ee

(Izr. 2:1-70)

⁴ Qachaan Yersaaleemii badhaa gudda'a; kolbaan qachaa san keessa leetu ammoo diqqo'o; manni hedduulle itti ijaaramee hin jiru.

⁵ Waaqi akka ani gondaaltotaa fi bulchitoota, kolbaalle wolitti qabee akka hidda dhaloota isaaniititti galmeessu na kakkaase; ani galmee hiddi dhaloota worra qara booji'amee deebi'ee irra jiru dhagge; ani barreeffama asiin gad jiru keessatti dhagge:

⁶ Worra Nebukadnezaar mootiin Baabilonii booji'eeruun, gara Yersaaleemii fi Yihuda'aa deebi'anee, tokko tokkoon isaaniituu gara qachaa ifii galane,

⁷ sooreyyiin isaanii Zarubaabel, Iyaasuu, Nahimiya, Azaariyaa, Raa'amiiyaa, Nahamaani, Mordekaayi, Biilshaan, Miispheret, Biigwaayi, Nehumii fi Ba'anaah.

⁸ Sanyiin Faaroshii kuma lamaa fi dhibba tokkoo fi torbaatamii lama;

⁹ sanyiin Shefaaxiya'aa dhibba sadii fi torbaatamii lama;

¹⁰ sanyiin Ara'aa dhibba jaa fi shantamii lama;

¹¹ sanyiin Iyaasu'uutii fi sanyii Yo'aabii ka te'e, sanyiin Fahat-Mo'aabii kuma lamaa fi dhibba saddeetii fi kudhanii saddeeti;

¹² sanyiin Elaamii kuma tokkoo fi dhibba lamaa fi shantamii afur;

¹³ sanyiin Zaatuu dhibba saddeetii fi afurtamii shan;

¹⁴ sanyiin Zakaayii dhibba torbaa fi jaatama;

¹⁵ sanyiin Binuu dhibba jaa fi afurtamii saddeeti;

¹⁶ sanyiin Bebaayii dhibba jaa fi diddamii saddeeti;

¹⁷ sanyiin Azigaadii kuma lamaa fi dhibba sadii fi diddamii lama;

¹⁸ sanyiin Adoniiqaamii dhibba jaa fi jaatamii torba;

¹⁹ sanyiin Biigwaayii kuma lamaa fi jaatamii torba;

²⁰ sanyiin Aadiinii dhibba jaa fi shantamii shan;

²¹ gosi Ateerii, sanyiin Hisqiyaasii sagaltamii saddeeti;

²² sanyiin Hashumii dhibba sadii fi diddamii saddeeti;

* **7:2 Itti gaafatamaa kushe'ee:** Itti gaafatamummaan isaa tun ta eegiisa dalleya mana mootumma'aa ti.

- 23 sanyiin Bezaayii dhibba sadii fi diddamii afur;
 24 sanyiin Haarifii dhibba tokkoo fi kudhanii lama;
 25 sanyiin Giibe'onii sagaltamii shan.
 26 Kolbaan Betlihemii fi Netofa'aa dhibba tokkoo fi saddeettamii saddeeti;
 27 kolbaan Anaatotii dhibba tokkoo fi diddamii saddeeti;
 28 kolbaan Beti-Azimaawetii afurtamii lama;
 29 kolbaan Kiriyyat-Ya'ariimii, kolbaan Kefiira'aatii fi Berootii dhibba torbaa fi afurtamii sad;
 30 kolbaan Raama'aatii fi Geba'aa dhibba jaa fi diddamii tokko;
 31 kolbaan Miikmaashii dhibba tokkoo fi diddamii lama;
 32 kolbaan Bet'elii fi Aayii dhibba tokkoo fi diddamii sad;
 33 kolbaan Neboo dhibi'ii[†] shantamii lama;
 34 sanyiin Elaamii dhibi'ii kuma tokkoo fi dhibba lamaa fi shantamii afur;
 35 sanyiin Haariimii dhibba sadii fi diddama;
 36 sanyiin Yeriko'oo dhibba sadii fi afurtamii shan;
 37 sanyiin Lodii, sanyiin Haadiidiitii fi sanyiin Onoo dhibba torbaa fi diddamii tokko;
 38 sanyiin Senaa kuma sadii fi dhibba sagalii fi soddoma;
 39 Hayyooti: Sanyii Yedaa'iya'aa keessaa sanyiin Iyaasu'uu dhibba sagalii fi torbaatamii sad;
 40 sanyiin Iimerii kuma tokkoo fi shantamii lama;
 41 sanyiin Faashihurii kuma tokkoo fi dhibba lamaa fi afurtamii torba;
 42 sanyiin Haariimii kuma tokkoo fi kudhanii torba.
 43 Lewwooti: sanyiin Iyaasu'uu, maatiin Qadmii'eliitii fi Hodaawiya'aa torbaatamii afur;
 44 faarfattoota keessaa: sanyiin Asaafii, dhibbaa fi afurtamii saddeeti;
 45 Worra karra eegu keessaa: sanyiin Shaalumii, sanyiin Ateerii, sanyiin Xalmoonii, sanyiin Aquubii, sanyiin Haxiixa'aatii fi Shobaayii dhibba tokkoo fi soddomii saddeeti.
 46 Worri tajaajiltoota Galma Waaqaa: sanyii Ziihaa, sanyii Hasufa'aa, sanyii Xabaa'otii,
 47 sanyii Qerosii, sanyii Sii'aa, sanyii Faadonii,
 48 sanyii Lebaana'aa, sanyii Hagaaba'aa, sanyii Shalmaayii,
 49 sanyii Haanaanii, sanyii Giidellii, sanyii Gahaarii,
 50 sanyii Re'aaya'aa, sanyii Resiinii, sanyii Neqoda'aa
 51 sanyii Gaazaamii, sanyii Uza'aa, sanyii Faaseha'aa,
 52 sanyii Besaayii, sanyii Me'uniimii, sanyii Nefushesiimii,
 53 sanyii Baqbuqii, sanyii Haqufa'aa, sanyii Harhurii,
 54 sanyii Baazliitii, sanyii Mehiida'aa, sanyii Haarsha'aa,
 55 sanyii Baarqosii, sanyii Siisera'aa, sanyii Tama'aa,
 56 sanyii Nesiiya'aatii fi sanyii Haxiifa'aa ti.
 57 Sanyii tajaajiltoota Solomoonii keessaa: sanyii Soxaayii, sanyii Soferetii, sanyii Firiida'aa,
 58 sanyii Ya'ala'aa, sanyii Daarqonii, sanyii Giidellii,
 59 sanyii Shefaaxiya'aa, sanyii Haxiilii, sanyii Fokeret-Hasbaayimiitii fi sanyii Amoonii ti.
 60 Sanyiin tajaajiltoota Galma Waaqaa martii fi sanyiin tajaajiltoota Solomoonii wolumatti dhibba sadii fi sagaltamii lama.
 61 Worri qachaa Tel-Melaatii irraa, qachaa Tel-hareshaatii irraa, qachaa Kerubii irraa, qachaa Adoniitii fi qachaa Iimerii irraa deebi'anee dhufane

[†] 7:33 *Dhibi'ii*: Yookiin lammeesso'oo.

ammoo sanyii isaanii yookiin abuuubota isaanii Israa'el akka te'ane mirka-neessiisa hin dandeenne.

⁶² Isaanille sanyii Delaaya'aa, sanyii Xobiiya'aatii fi sanyii Negoda'aa ti; laakkossi isaanii dhibba jaa fi afurtamii lama.

⁶³ Ammalle, hayyoota keessaa: sanyiin Habaaya'aa, sanyiin Haqoziitii fi Baarzilaayii ka intala Baarzilaayii Giilaadichaa fuudhee maqaa kanaan waamamane;

⁶⁴ worra akka hidda dhaloota isaaniiitti barreeffame keessaa maqaan sanyii isaanii waan dhabameef, isaan akka qulqullummaa hin qannetti laakkowamanee, hujii hayyumma'aa keessaa baasane;

⁶⁵ Bulchaan Yihudootaa, «Haga hayyuun Uriimii fi Tumiimiin[‡] tajaajilu dhaggamutti sagalee woyyittii[§] hin nyaatina'a» jedhee isaanitti hime.

⁶⁶ Laakkossi worra booji'amee deebi'ee wolumatti kuma afurtamii lamaa fi dhibba sadii fi jaatama.

⁶⁷ Kana biratti laakkossi tajaajiltoota isaanii dhiiraa fi dubartiin kuma torbaa fi dhibba sadii fi soddonii torba; isaan faarfattootalle dhiiraa fi dubartii dhibba lamaa fi afurtamii shan qaban.

⁶⁸ Fardooleen isaanii dhibba torbaa fi soddonii jaa; gaangoleen isaanii dhibba lamaa fi afurtamii shan;

⁶⁹ Gaalota dhibba afurii fi soddonii shanii fi harreelee kuma jaa fi dhibba torbaa fi diddama qaban.

⁷⁰ Dura aantoti firaa gariin hujii tanaaf kennansa kennane. Bulchaan biyyaa worqii gara kiiloo saddeetii, qorii boboolittii shantama, woyaa hayyootaa dhibba shanii fi soddoma kenne.

⁷¹ Dura aantoti firaa gariin worqii gara kiiloo dhibbaa fi jaatamii saddeetii fi meetii gara kiiloo kuma tokkoo fi dhibba lamaa fi shantamaa Galma Waaqaa deebisane ijaariisaaf kennane.

⁷² Kolbaan worri hafane wolumatti worqii gara kiiloo dhibbaa fi jaatamii saddeetii, meetii gara kiiloo kuma tokkoo fi dhibba tokkootii fi woyaa hayyootaa jaatamii torba kennane.

⁷³ Maarre Hayyooti, worri Lewwootaa, eeddotti karraa, faarfattooti, kolbaan worri kuunille, tajaajiltooti Galma Waaqaa, Israa'elooti martinuu qachaa ifii keessa qubatane.

8

Izraan Seera Waaqaa Kolba'aaf Dubbise

¹ Kolbaan Israa'elii martinuu ji'a torbeesso'oo qachoota ifiititti qubatte; ji'a san guyyaa qaraa kolbaan duudiin Yerusaalemitti karra «Karra bisaanii» jedhamu fuula duratti gara keessaatitti tokkummaan wolitti qabante; isaanille Izraa barreessaa kitaabaa, «Kitaaba Seera Muuse'ee ka Waaqi kolbaa Israa'eliitiif kenne fidi!» jedhanee gaafatane.

² Ji'a torbeesso'oo, guyyaa qaraa Izraan hayyichi nami hubatuu dande'u duudiin: dhiirti, dubartiin, diqqaa'aa fi guddaan addee wolitti qabamaneer-anutti Kitaaba Seeraa fide.

³ Inni gara gumii karra bisaanii fuula dura jirtuu garagalee, dhiiraa fi dubartii, akkasuma worra wo hubatuu dande'u duratti ganamaa haga orra'aa, qoonqoo guddoon dubbise; kolbaan duudiin Kitaaba Seeraa san akka dansaa dhageette.

⁴ Izraan barreessaan kitaabaa waan irra dhaabbatanee dubbatanu ta mukaa, guyyaa haajaa akkasii kanaaf irra dhaabbatiisaaf hujante irra

[‡] 7:65 Uriimii fi Tumiim: Waan hayyichi fedhii Waaqaa murteessiisaaf itti fayyadamu. § 7:65 Sagalee woyyittii: Ta Waaqaaf kennante jechu'u.

dhaabbate; gara harka isaa middaatiin Matiitiyaan, Shemaan, Anaayaan, Uriyaan, Hilqiiyaanii fi Ma'aseyaan, gara harka isaa bita'aatile'een Phedaayaan, Miishaa'el, Malkiiyaan, Hashum, Haashabadaanaan, Zakaariyaasii fi Meshulaam isa cinaa dhaabbataneeran.

⁵ Izraan addee ol kaate irra waan dhaabbateeruuf, kolbaan duudiin gara isaa ilaaliisatti jirtiyyu; akkuma inni Kitaaba san baneen, isaan martinuu ka'anee dhaabbatane.

⁶ Izraalle Mootii Waan Maraa Waaqa guddicha leellise; kolbaan duudiin harka ifii ol qabatee «Ameen, ameen!» jette; achiin duuba adda ifille'een lafatti gad jiddee Mootii Waan Maraatiif sagadde.

⁷ Achiin duuba isaan martinuu ka'anee, adduma jiranutti dhaabbatane; worri Lewwootaalle, Iyaasuun, Baaniin, Sherebiyaan, Yaamiin, Aquub, Shaabetaay, Hodiyaan, Ma'aseyaan, Qeliixaan, Azaariyaan, Yozaabaad, Haannaanii fi Phelaayaan Kitaaba Seeraa san kolbaa hubachiisane.

⁸ Isaanille Kitaaba Seera Waaqaa san kolba'aaf dubbisane, akka wonni dubbifamu kolba'aaf galu hiikaneessane.

⁹ Kolbaan duudiin waan Seerri jedhu yennaa dhageette waan bootteef, Nahimiyaan bulchaan biyyaa, Izraan hayyichi barsiisaan kitaaba seeraatii fi Lewwooti worri seera hiikaneessane kolbaa barsiisane, «Guyyaan kun Mootii Waan Maraa Waaqa keessaniif woyyicha waan te'eef, isin hin gaddina'a, hin bowna'a!» jedhaneessaan duudi'itti himane.

¹⁰ Nahimiyaan, «Dhaqa'aatii sagalee filante nyaadha'a; untoo mi'oottuulle una'a! Worra hin qannelle'eef irraa qooda'a! Guyyaan kun guyyaa Mootii Waan Maraa keennaaf woyyoomeru; gammadi Mootii Waan Maraa isiniif kennu jabeenna keessan waan te'eef, hin gaddina'a!» jedhe.

¹¹ Worri Lewwootaalle kolbaa duudiin, «Guyyaan kun woyyicha waan te'eef, cadhisa'a; hin gaddina'a!» jedhaneessaan cadhisiisane.

¹² Kolbaan duudiin jechoota isaanii dubbifame waan hubataneef, nyaatisaa fi uniisaaf, waan qabanu irralle'ee worra dhibi'iif qoodiisaaf, gammadiisaafille gara mana mana ifii galane.

Jila Gose'ee Jilifatane

¹³ Guyyaa lammeesso'oo worri sooreyyii firaa duudiin hayyootaa fi Lewwoota waliin jechoota Seera sanii baratiisaaf, Izraa barsiisaa Seera Kitaabaa biratti wolitti qabamane.

¹⁴ Isaanille ajaja Mootiin Waan Maraa karaa Muuse'eetiin kenne keessatti, «Ji'a torbeesso'oo keessa yennaa jila gose'ee jilifatanu, kolbaan Israa'elii gosee keessa teetuu ti!» jedhu, Seera keessatti bareeffameeruun dhaggane.

¹⁵ Maarre isaan, «Akkuma barreeffametti gosee ijaariisaaf gaaratti ol baya'aatii, dameelee ejersa zayiti'iitii fi ejersa badda'aa, dameelee muka dakkaraa, meexxi'ii fi dameelee muka baala-qabeeyyi'ii fida'a!» jedhaneessaan duudi'ii fi Yerusaleem keessatti lassane.

¹⁶ Tanaaf kolbaan baatee dameelee mukaa fiddee, tokko tokkoon isaanii heellichoo mana ifii irratti*, dalleya mana ifiitii fi dalleya Galma Waaqaa keessatti, badhinna karra bisaanii jedhamutti, badhinna karra Efreemii duralle'etti gosee ijaarane.

* **8:16 Heellichoo mana ifii irratti:** Heellichoon mana Israa'elootaa diriirtuu waan teeteef, isii irratti midhaan afachuu, gosee dhibii irratti ijaaraneessatti waaqonfatuu yookiin yennaa bonaa keessa rafuu dande'an.

¹⁷ Namooti biyya itti booji'amanee deebi'ane duudiin gosee ijaarratanee keessa tee'ane; eegii bara Iyaasuu ilma Nuniitii haga guyyaa saniititti kolbaan Israa'elii akkas gammaddee hin beettu; gammadi itti dhage'amelle akka malee gudda'a.

¹⁸ Izraan guyyaa duraatii jalqabee haga guyyaa muummeffata jilaatitti, guyyuma guyya'aan Kitaaba Seera Waaqaa keessaa dubbise; isaan jila san haga guyyaa torbaa jilifatane; akkuma Seerri ajajutti guyyaa saddeetesso'oo aadaan muummeffata jilaa godhame.

9

Israa'elooti Cubbuu Ifi Faaci'atane

¹ Ji'uma san gaafa guyyaa diddamii arfeesso'oo Israa'elooti marroo cubbu'uutiif akka gaddane mudhisiisaaf woyaa gaddaa uffatanee, bukuu mataa ifii irratti firfifatanee, laamiisaaf wolitti qabamane.

² Worri sanyii Israa'elii te'ane martinuu worra ormaa irraa gargar bayanee dhaabbatanee, cubbuu ifii hujanee fi abbootiin isaanii hujje duudii dhugaa-baasane.

³ Adduma dhaabbatanetti saatii sadiif kitaaba Seera Mootii Waan Maraa ka Waaqa isaanii, isaaniif dubbifame; akkasuma saatii sadiif cubbuu ifii dhugaa-baasaa Mootii Waan Maraa Waaqa ifitiif sagadane.

⁴ Iyaasuun, Baani, Qadmii'el, Shebaniyaan, Buni, Sherebiyyaan, Baanii fi Kenaan fa'a, yaabbannoo worri Lewwootaa irra bayanu irra dhaabbatanee, qoonqoo guddoon gara Mootii Waan Maraa Waaqa ifi daadimatane.

⁵ Lewwooti worri Iyaasuu, Qadmii'el, Baani, Hashabniyyaa, Sherebiyyaa, Hodiyyaa, Shebaniyyaa fi Fitaahiyyaa jedhamanu,

«Ka'a'aatii Mootii Waan Maraa
Waaqa keessan ka bara baraa
leellifadha'a!
«Maqaan keeti ulfaataan,
ka galataa fi eebba duudii irra ol aanu
leellifamuu ti!» jedha'a!» jedhane.

Daadimata Faaci'atiisaa

⁶ Achiin duuba kolbaan Israa'elii,
«Ee Mootii Waan Maraa!
Mootiin Waan Maraa si qofa.

Ol-gubbaa,
ol-gubbaa ol-gubbootaalle
dada isaan keessaa* waliin,
lafaa fi waan isii irra jiru duudii,
abbaaya'aa fi
waan isii keessa jiru duudii sittuu dade.
Ati isaan duudi'iifuu jiruu kennite;
dadi ol-gubba'aa† si'iif sagaddi.

⁷ «Ati Mootii Waan Maraa Waaqa Abraam filattee,
biyya Kaldootaa Ur keessaa baattee,
maqaa isaa «Abrahaam» jettee moggaatte.

⁸ Akkasuma inni si'iif addatamaa akka te'e dhaggitee,
biyya kana'aanotaa,
biyya Heetotaa,

* **9:6** Dada isaan keessaa: Urjoota bannacha isaan keessaa ti. † **9:6** Dadi ol-gubba'aa: Urjooti bannachi ol-gubba'aa jechuu isaanii ti.

biyya Amoorotaa,
 biyya Pheriizotaa,
 biyya Yibusootaatii fi Girgaashotaa
 isaa fi sanyii isaatiif kenniisaaf waadaa galte.
 Ati qajeelaa waan teeteef,
 waadaa galte isaaf muummessite.

- 9 «Biyya Gibxi'iititti
 rakkinna abbootii teenna dhaqqabe dhaggitee,
 abbaayaa diintuu birattille iyya isaanii dhageettee,
 10 mootiin Gibxi'ii,
 qondaaltoti isaatii fi kolbaan lafa isaa irra leetu
 attam akka kolbaa teeti hucuucane waan beetteef,
 baasaa fi bilbaasa hujjee itti mudhitte.
 Tana waan gooteef,
 gurri keeti haga adhaa ol ka'eera.
 11 Abbaayaa fuula isaanii duratti gargar qooddee,
 lafa godduu irra akka dabaranu goote.
 Akka dhakaa abbaayaa qile'etti qolaanfamuu,
 worra isaan ari'aa turelle qile'etti qolaansite.
 12 Kolbaa teeti ammoo,
 guyyaa utubaa duumensaatiin,
 halkanille karaa isaan irra deemanu akka isaaniif issuuf,
 utubaa ibiddaatiin sooressite.
 13 «Ati ol-gubbaa irraa gara gaara Siina'aa gad buutee,
 isaanitti dubbattee,
 seera qajeela'aa fi muraa dhuga'aa,
 sirnaa fi ajaja dansaa isaaniif kennite.
 14 Sanbata keeti woyyichalle akka beekanu gootee,
 karaa garbicha keeti Muuse'eetiin,
 ajaja, sirnaa fi seera keeti isaaniif kennite.
 15 Yennaa beelayanelle ol-gubbaa irraa sagalee isaaniif kennitee,
 yennaa dheebotanelle rassaa keessaa bisaan isaaniif burqisiitte.
 Biyya isaanii kenniisaaf waadaa galtetti
 akka galanuuf isaan ajajje.
 16 «Abbootiin teenna ammoo koortee, mataa jabaattee,
 ajaja keetiif ajajamuu didde.
 17 Isaan ammoo ajajamuu didanee,
 bilbaasa ati isaan oddu'utti hujjelle dedhane.
 Mataa jabaatanee gara garbummaa ifii
 Gibxi'iititti deebi'iisaaf nama isaan sooressu filatane.
 Ati ammoo Waaqa jaalala bara baraatiin guutanteertu,
 ka mufi'iif hin ariifanne,
 ka araarantu, arja'aa fi mararaa waan teeteef
 isaan hin lakkinne.
 18 Isaan fakkii jabbi'ii ifiif hujanee,
 «Mootiin Waan Maraa
 ka biyya Gibxi'ii keessaa nu baase kana» jedhane,
 isaan guddoo si faanshessane.
 19 «Marartiin teeti guddoo waan teeteef,

- ati ammoo goomolee keessatti
isaan hin lakkinne.
Utubaan duumensaa guyyaa,
utubaan ibiddaa ammoo
halkan isaan sooresse.
20 Akka isaan barsiisuuf,
Ayyaana keeti isaanii kennite.
Mannaa isaan nyaatanuu fi
bisaan unanu isaanii kennite.
21 Ati lafa goomole'ee keessatti
woggaa afurtama isaan qarqaarte.
Isaan womaa hin dhanne,
woyaan isaanii hin dulloonne,
miilli isaaniille hin iitonne.
- 22 «Ati mootummootaa fi
gosa biyya adda addaa Israa'eliif kennitee,
isaanille biyya sihoonii mootii Heshibooniitii fi
Oogii mootii Baashaanii qabatane.
- 23 Ati ijoollee isaanii
akka urjoota ol-gubba'aa baceessitee,
gara biyyaa abbootiin isaanii itti galanee
akka qubatanu waadaa galteetitti isaan galchite.
- 24 Ijoolleen isaaniille lafa Kana'aanii injifatane qabatane;
ati kolbaa achi keessa leetu
mootota isaaniitii fi worra biyya sanii woliin
akka fedhane akka isaan godhanuuf,
harka isaanii keessa galchite.
- 25 Isaan qachoota gugurdaa
ka dalleya dhaka'aa qabuu fi lafa laattuu,
mana meya dadansa'aan guutamane,
boolla bisaanii ta qotanteertu,
addee woyni'iitii fi muka ejersaa,
akkasuma mukoota midhaanii hedduu qabatane.
Maarre isaan nyaatane quufanee gabbatanee,
waan dadansaa guddoo ati isaanii kennitetti gammadane.
- 26 «Duubarra ammoo ajajama didanee,
si finqilane, Seera keeti irra duubbatti deebi'ane.
Raagota teeti worra akka isaan gara keeti deebi'anu isaan xixe ijjeesane,
kana godhiisaan guddoo si faanshessane.
- 27 Tanaaf harka diinota isaanii,
worra isaan rakkisetti dabarsitee isaan kennitee,
isaan yennaa rakkatane sitti iyyane;
ati ol-gubbaa irraa isaaniif dhageettee,
marartii teeti guddoon,
harka diinota isaanii keessaa worra isaan baasu
sooreyyii isaaniif kennite.
- 28 «Isaan foora dhaggataneen duuba ammoo,
deebi'ane si duratti hantuu hujanee,
atile harka diinota ol aantumma'aan bulchutti
isaan lakkitte.
Te'uu malee yennaa isaan deebi'ane sitti iyyane,

ati ol-gubbaa irraa isaaniif dhageettee,
marartii teeti guddo'oon,
yennaa hedduu isaan baache.

29 «Gara Seera keetii akka deebi'anuuf,
ati isaan gorsiteerta.
Isaan kooranee seera keeti didane;
waan si duratti sirrii te'e
ka nami eegatee ittiin le'u irratti ka'anee
cubbuu hujane.

Mataa jabaatanee dudda sitti galanee
morma jabeeffatanee,
dhage'iisa didane.

30 Ati bara hedduu isaaniif ossattee,
karaa raagota teetiitiin
Ayyaana keetiitiin isaan gorsite;
te'uu malee isaan si hin dhageenne.

Tanaaf ati kolbaa ollaa isaaniititti
dabarsitee isaan kennite.

31 Ammalle ati
Waaqa marartii guddoo qabu waan teeteef,
isaan hin ganne yookiin
hin balleessine.
Ati Waaqa marara'a;
arjaalle'e.

32 «Tanaaf amma, Waaqa keenna,
ati gudda'a!
Ati attam hunnaamessaa fi sodaatama'a!
Ati Gondooro'oo fi jaalala keeti
ka bara baraa ka eeddu!
Rakkinna bara mootota Asooriitii jalqabee
haga adhaalle nu irra, mootota teenna irra,
qondaaltota teenna irra,
hayyoota teenna irra,
raagota teenna irra,
abbootii teennaa fi
kolbaa teeti mara irra geye qaabadhu!

33 Waan nu irra geye maraaf
ati dhugaa qadda;
nuuti yakkaameyyii teenulle,
ati addatama'a.

34 Moototi teenna,
qondaaltoti teenna,
hayyooti teennaa fi
abbootiin teenna
Seera keeti hin eeganne.

Yookiin ajaja keetii fi
gorsa keeti hin qalbeeffanne.

35 Isaan mootummaa ifii keessatti,
lafa badho'oo fi laattuu
ati isaaniif kennite keessa,
yennaa turaneeyyuu siif hin tajaajille;
cubbuu ifii irraa hin deebine.

- 36 «Kunoo, nuuti adha
lafa abbootiin teenna midhaan isi'iitii fi
waan dansaa isiin baachu akka nyaatanuuf,
ati isaaniif kennite keessatti garboota teene.
- 37 Sababa cubbuu teennaatiif,
wonni hedduun latti kennitu,
mootota worra ati nu irratti mootonsiteef galti;
Isaan nu'uu fi horii keenna irratti
akka jaalatane godhan.
Nuuti rakkinna guddaa keessa jirra.

Kolbaan Wolii Galtee Mallatteessite

- 38 «Sababa waan te'e san maraa, nuuti barreeffamaan wolii galtee tokko
goona; qondaaltoti teenna, Lewwooti teennaa fi hayyooti teenna chaappaa
itti godhan» jedhane.

10

- 1 Worri wolii galtee mallatteesse kanatti aananee jiran;
Nahimiya ilma Hakaaliya'aa ka biyya bulchu, Xidiiqiiyaa,
2 Seraayaa, Azaariyaa, Ermiyaas,
3 Phashihur, Amaariyaa, Malkiiyaa,
4 Haxushi, Shebaniyaa, Maluuk,
5 Hariim, Meremoot, Obaadiyaa,
6 Daani'el, Ginetoon, Baaruk,
7 Meshulaam, Abiiyaa, Miyaamin,
8 Maaziyaa, Biilgaayii fi Shemaa'iyaa; isaan kun worra hayyootaa ti.
9 Worra Lewwootaa keessaa ammoo, Iyaasuu ilma Azaaniya'aa, ilmaan
Henaadaadii keessaa ammoo Biinuyi, Qadmii'elii fi,
10 firoottan isaanii, Shebaniyaa, Hodiiyaa, Qaliixaa, Pheelaayaa,
Haanaan,
11 Miikaa, Rehoob, Hashabiiyaa,
12 Zaakur, Sherebiiyaa, Shebaniyaa,
13 Hodiiyaa, Baanii fi Beniinu.
14 Sooreyyii kolba'aa keessaa ammoo, Phaarosh, Phaahati-Mo'aab, Elaam,
Zaatuu, Baanii,
15 Buni, Azigaad, Bebaayi,
16 Adoniyaa, Biigwaayi, Aadiin,
17 Ater, Hisqiyaa, Azur,
18 Hodiiyaa, Hashum, Bezaayi,
19 Hariif, Anaatoti, Nebaayi,
20 Maagphiyaashi, Meshulaan, Heziir,
21 Meshezaabi'el, Zaadoq, Yaaduwaan,
22 Phelaatiyaa, Haanaan, Anaayaa,
23 Hoshe'aa, Hanaaniyaa, Hashub,
24 Haloheshi, Philhaa, Shobeq,
25 Rehuum, Hashabnaa, Ma'aseyaa,
26 Ahiiyaa, Haanaan, Aanaan,
27 Maluuk, Haariimii fi Ba'ana'a.
28 Namootaan worra hafane keessaa ammoo, Hayyooti, Lewwooti, worri
karra eegu, faarfattooti, tajaajiltooti Galma Waaqaa, akkasuma worra Seera
Waaqaatiif jedhane kolbaa adaala san jirtu keessaa addaan ifi baasane
maraa, dubartoota isaanii, ilmaan isaaniitii fi ijoollee durraa isaanii worra
beekkumsaa fi hubantii qabu mara waliin,

²⁹ firoottan isaanii, qondaaltota isaanii wolitti dabalamanee, seera Waaqaa ka harka Muusee garbicha Waaqaatiin kenname gula deemiisaaf, ajaja, seerata fi sirna Mootii Waan Maraa Gootaa keennaa maraayyuu eegiisaaf, yoo yakkane abaaramiisaaf kakatane.

³⁰ Nuuti ijoollee durraa teenna namoota biyya sanii akka hin heerumsinne, ijoollee durraa ta isaaniille ilmaan teenna akka hin fuusinne kakanne.

³¹ Namooti biyya sanii meya daldalaa yookiin midhaan gurguriisaaf, gaafa Sanbataa yoo fidane, gaafa Sanbataa yookiin guyyaa jilaa dhibiille, nuuti isaan irraa hin binnu. Woggaa torbeesso'ootitti fichaa bulchinee foorfachiinna; liqaa maralle hin lakkinna.

³² Nuuti tokko tokkoon keenna wogguma wogga'aan tajaajila mana Waaqa keennaatiif, sheeqelii* harka sad keessaa tokko baasuu ifitti murre.

³³ Kunille daabboo Waaqaaf kennantuuf†, kennaa midhaanii ka guyyaa guyyaa'aan dhikaatuuf, kennansa ciinca'aa ka guyyaa guyyaa'aa dhikaatuuf, guyyaa Sanbataatiif, baatii ji'ootaatiif, guyyaa jila beekkamanetiif, kennansa woyyichaa fi kolbaa Israa'eliitiif araara buusiisaaf ciincaa sababa cubbu'utiif dhikaattu, hujii mana Waaqa keennaa keessatti hujantu maraaf ka te'u.

³⁴ Nuuti hayyooti, Lewwooti, kolbaalle, akka seera keessatti barreeffantetti, ciincaa Mootii Waan Maraa Waaqa keennaaf dhikaatu addee ciinca'aa irratti ciinCESSiisaaf, qoraan barbaachisu, maatii dhikeessitu murteessiisaaf, wogguma wogga'aan hixaa buufanna.

³⁵ Nuuti wogguma wogga'aan midhaan galfannuu fi midhaan mukaa mara keessaa mataa mataa gara Galma Mootii Waan Maraa finna.

³⁶ Ilma angafa tokko tokkoo keennaaf dhalate, gara hayyoota Galma Waaqa keennaa keessa tajaajilanuu geessinee, akkuma seera keessatti barreeffante, achitti Waaqaaf adda baanna. Akkasuma angafa loon keennaa, angafa hoolotaa fi re'oota teennaalle Waaqaaf adda baanna.

³⁷ Itti daballeelle bukoo midhaan keennaa ka qaraa irraa, kennaa midhaan keennaa irraa, midhaan mukaa mara irraa, daadhii woyni'ii haareya irraa, zayitii ejersaa irralle'ee hayyootaaf akka te'anu, Galma Waaqa keennaa keessatti addee meen itti galfamutti geessina; qachoota nuuti keessa hunyu marattuu kudhan keessaa tokko worri guuru Lewwoota waan te'eef, kudhan keessaa tokko midhaan keenna Lewwootaaf geessina.

³⁸ Yennaa Lewwooti kudhan keessaa tokko kana fudhatanu, hayyichi sanyii Aaronii isaan biratti dhaggama; worri Lewwootaa ammoo kudhan keessaa tokko ka guurane san keessaa, kudhan keessaa tokko gara Galma Waaqa keennaa fidanee addee meen itti galfamutti galchan.

³⁹ Lewwootii fi kolbaan Israa'elii kennaa midhaan adda addaa, woynii haareyaa fi zayitii ejersaa addee meen Galma Waaqaa keyamuu fi addee hayyooti worri hujii irra jiranu, worri karra eeguu fi faarfattooti tee'anutti geessan; nuuti ammoo Galma Waaqa keennaa hin lakkinnu‡.

11

Kolbaa Yerusaalem Keessa Leete

* **10:32** *Sheeqelii*: Beesee meetii irraa hujanu. † **10:33** *Daabboo Waaqaaf kennantu*: Daabboon tun akka seera bara saniititti ta Waaqaaf xarapheessaarra keyanu. ‡ **10:39** *Hin lakkinnu*: Cadhinnee hin ilaallu jechuu ilaala.

¹ Bulchitooti kolba'aa qachaa Yersaaleemii keessa le'ane; kolbaan worri hafane hixaa buufatanee maatii kudhan kudhan keessaa tokko qachaa guddaa woyyicha Yersaaleem keessa le'iisaaf filatamanee, worri hafe ammoo qachoota dhibii keessa le'ane.

² Kolbaalle namoota worra fedha ifitiin Yersaaleem keessa le'iisaaf ifi kennane mara eebbiche.

³ Kolbaan Israa'elii gariin, hayyooti, Lewwooti, tajaajiltooti Galma Waaqaatii fi sanyiin tajaajiltoota Solomoonii qachoota lafa Yihuda'aa keessa jiranu lafuma ifii keessa qachaa ifii keessa le'ane.

⁴ Sanyii Yihuda'aatii fi sanyii Beniyaaminii keessalle'ee gariin Yersaaleem keessa le'ane. Sanyiin Yihuda'aa:

Atayaa ilma Uziya'aa, akaakoo Zakaariyaasii ti. Sanyiin isaa Amaariyaa, shefaaxiya'aa fi Mahalalelii sanyii Faaresiille dabalata.

⁵ Akkasuma Ma'aseyaa ilma Baarukii, akaakoo Kolhozee ti. Sanyiin isaa ta dhibiin Shela Hazaayaa, Adaayaa, Yoyaariib fi Zakaariyaas.

⁶ Sanyiin Faaresii worri Yersaaleem keessa le'ane, loltooti beekkamane, namoota dhibba afurii fi jaatamii saddeeti.

⁷ Sanyii Beniyaaminii keessaa:

Sa'aaluu ilma Meshulaamii, akaakoo Yo'edii ti. Sanyiin isaa ta dhibiin Fedaayaa, Qolaayaa, Ma'aseyaa, Itii'el, Yeshaa'iyaa'a.

⁸ Beniyaaminitti aananee, Gabaayii fi Silaayi, wolumatti sanyiin Beniyaaminii dhibba sagalii fi diddamii saddeetitti Yersaaleem keessa le'e.

⁹ Yo'el ilmi Ziikrii toowataa isaanii ti; Yihudaan ilmi Hasenu'aa qachaa irratti itti aanaa toowataa qacha'aa ti.

¹⁰ Hayyoota keessaa:

Yedaa'iyaa ilma Yoyaariibiitii fi Yaakiin.

¹¹ Seraayaan ilma Hilqiiya'aa, akaakoo Meshulaamii ti. Sanyiin isaa Zaadoq, Meraayootii fi ka dur Galma Waaqaa keessatti hayyicha guddaa te'eeru Ahiixub fa'a.

¹² Sanyiin Seraaya'aa worri Galma Waaqaa keessa tajaajilane wolumatti namoota dhibba saddeetii fi diddamii lama. Isaanille Adaayaa ilma Yerohaamii, akaakoo Felaaliya'aa ti. Sanyiin isaa Amzii, Zakaariyaas, Fash-Hurii fi Milkiyyaa fa'a.

¹³ Sanyiin Adiya'aa, abbootiin firaa dhibba lamaa fi afurtamii lama. Isaanille Amash-saayii ilma Azaari'elii akaakoo Ahazaayii ti. Sanyiin isaa Mashilemootii fi Iimer fa'a.

¹⁴ Sanyiin isaanii loltooti beekkamane dhibba tokkoo fi diddamii saddeeti. Toowataan isaanii Zabdi'elii ilma Hagdoolimii ti.

¹⁵ Lewwoota keessaa:

Shemaayaa ilma Hashubii akaakoo Azriiqaamii ti. Sanyiin isaa Hashabiya'aa fi Buni fa'a.

¹⁶ Shabetaayii fi Yozaabaad, bulchitoota Lewwootaa, ta hujii Galma Waaqaatiin alaa ti.

¹⁷ Mataaniyyaa ilma Miika'aa, akaakoo Zabdi, sanyii Asaafii, ka daadimata leellisaa faaru'uun faarfattoota Galma Waaqaa sooresse.

Gargaaraan isaa Baqbuqiiyaa;

Abdaan ilma shamu'aa, akaakoo Gaalaalii sanyii Yedutuu ti.

¹⁸ Wolumatti Lewwoota dhibba lamaa fi saddeettamii afuritti qachaa Yersaaleemii woyyicha keessa le'e.

¹⁹ Eddoti Galma Waaqaa:

Aquub, Xalmoonii fi firoottan isaanii wolumatti dhibba tokkoo fi torbaatamii lama.

²⁰ Kolbaan Israa'elii ta dhibiin, hayyootaa fi Lewwooti worri hafane, qachoota Yihuda'aa keessa lafuma ifii keessa qachoota Yihuda'aa dhibii keessa le'ane.

²¹ Tajaajiltooti ammoo Galma Waaqaa gaara Ofeelii gubbaa le'ane; Ziihaa fi Gishiphaan toowattoota isaanii ti.

²² Toowataan Lewwootaa ka Yerusaalem keessa le'e Uzii ilmi Bunii, akaakoo Hashabiiya'aa ti. Sanyiin isaa Mataaniiya'aa fi Miikaa sanyii Asaafii, worra dur itti gaafatantoota faarfannaa Galma Waaqaa keessaa te'ee ti.

²³ Dabareen guyyaa guyya'atti worra faarfattootaatiif kennamuu male akka kennamuuf, mooticha biraa ajaji bayeeru jiraayyu.

²⁴ Sanyii Yihuda'aa ka te'e, sanyii Zera'aa, ilmi Meshezaabi'elii Fetaahiyaan mooticha biratti bakka bu'aa Israa'elii ti.

Kolbaa Ollootaa Fi Qachaa Yerusaalemiitiin Alaa keessa Leetu

²⁵ Kolbaan Yihuda'aa gariin qachoota asii gadii ka fichaa isaaniitiin cina'aa: qachaa Kiriyaat-Arabaatii fi olloota isaa keessa, qachaa Dhiibooniitii fi olloota isaa keessa, qachaa Yiqaabzii'eliitii fi olloota isaa keessa.

²⁶ Akkasuma qachaa Yesu'aa, qachaa Molaada'aa, qachaa Bet-Phaalexii,

²⁷ qachaa Hazarshu'aalii, qachaa Bersheeba'aatii fi olloota isaa keessa,

²⁸ qachaa Siiglaagii keessa, qachaa Mekona'aatii fi olloota isaa keessa,

²⁹ qachaa En-Rimoon keessa, qachaa Zaarii'a'aa keessa, qachaa Yarmuutii keessa,

³⁰ qachaa Zaano'a'aa keessa, qachaa Adunaamiitii fi olloota isaa keessa, qachaa Laakiishiitii fi fichaa cinaa isaa keessa, qachaa Aazeqa'aatii fi olloota isaa keessa le'ane. Maarre isaan biyya Bersheeba'aatii haga dhooqa Hiinomiititti qubatane.

³¹ Sanyiin Beniyaaminii ka Geba'aa dhufane, qachaa Makma'aa keessa, qachaa Ayyaatii keessa, qachaa Bet'eliitii fi olloota cinaa isaa keessa,

³² qachaa Anaatotii keessa, qachaa Nobii keessa, qachaa Anaaniiyaa'aa keessa,

³³ qachaa Hazoorii keessa, qachaa Raama'aa keessa, qachaa Giitaayimii keessa,

³⁴ qachaa Haadiidii keessa, qachaa Zebo'iimii keessa, qachaa Nebaalaaxii keessa,

³⁵ qachaa Lodiitii fi Onoo keessa, dhooqa namoota hujii harkaa hujuu keessalle qubatanee le'ane.

³⁶ Lewwooti dur lafa Yihuda'aa keessa le'anuu gariin lafa kolbaa Beniyaaminii keessa qubatane.

12

Hayyootaa fi Lewwoota

¹ Hayyootii fi Lewwooti worri Zarubaabelii ilma She'altii'eliitii fi Iyaasuu waliin boojuu'uu deebi'ane, hayyooti: Seraayaa, Ermiyaas, Izraa

² Amaariyaa, Maluuk, Haxushi,

³ Shekaaniyaa, Rehuum, Meremoot,

⁴ Iddoo, Giinetoo, Abiiyaa,

⁵ Miyaamin, Ma'adiiyaa, Biilgaa,

⁶ Shemaayaa, Yoyaariib, Yedaa'iyaa,

⁷ Sa'aaluu, Aamoq, Hilqiiya'aa fi Yedaa'iyaa'a. Isaan kun bara Iyaasu'uu keessatti sooreyyii hayyoota firoota isaanii ti.

⁸ Lewwooti: Iyaasuu, Biinuyi, Qadmii'el, Sherebiiyaa, Yihuda'aa fi Mataaniya'a. Mataaniyaan firoota ifii woliin itti gaafatamaa faaruu leellisaa ti.

⁹ Firooti isaanii Baqbuqiiyaanii fi Uniiyoon yennaa tajaajilaa isaanitti aananee dhaabbatan.

¹⁰ Iyaasuun Yoyaaqiim uumate, Yoyaaqiim Eliyaashiib uumate, Eliyaashiib yoyaadaa uumate,

¹¹ Yoyaadaan Yonaataan uumate, Yonaataan Yaaduwa uumate.

Sooreyyii Fira Hayyootaa

¹² Bara Yoyaaqiim hayyicha guddaa te'eerutti, hayyooti sooreyyii fira hayyootaa te'ane: fira Seraaya'aatiif, Meraaya'a; fira Ermiyaasiitiif, Hanaaniya'a;

¹³ fira Izra'aatiif, Meshulaam; fira Amaariya'aatiif, Yehohaanaan;

¹⁴ fira Meliikuutiif, Yonaataan; fira Shebaaniya'aatiif, Yoseef;

¹⁵ fira Haariimiitiif, Adna'a; fira Meraayootiif, Helqaayi;

¹⁶ fira Iddootiif, Zakaariyaas; fira Giinetooniitiif, Meshulaam;

¹⁷ fira Abiyya'aatiif, Ziikri; fira Miyaaminiitii fi fira Mo'aadiyya'aatiif, Philxaayi;

¹⁸ fira Biilgaatiif, Shamu'a'a; fira Shemaya'aatiif, Yehonaataan;

¹⁹ fira Yoyaariibiitiif, Matenayi; fira Yedaa'iya'aatiif, Uzi;

²⁰ fira Saalaayiitiif, Qalaayi; fira Aamoqiitiif, Ebeer;

²¹ fira Hilqiiya'aatiif, Hashabiiya'a; fira Yedaa'iya'aatiif, Nataani'el;

²² Bara Eliyaashaab, Yoyaadaan, Yohaannaanii fi Yaaduwaan hayyoota gugurdoo te'aneeranutti, galmeen sooreyyii fira Lewwootaatii fi sooreyyii fira hayyootaa tun, bara Daariyos mooticha Faaresii te'eerutti galmeeffante.

²³ Sooreyyiin maatii Lewwootaa haga bara Yohaannaan ilma Eliyaashiibii jiru qofa galmee dabarsi'ii keessatti galmeeffamane.

²⁴ Lewwooti qajeelfama sooreyyii Lewwootaa Hashabiiyaa, Sherebiiya'aa fi Iyaasuu ilma Qadmii'eliitiin, addee lamatti qoodamanee, fuullee wolii dhaabbatanee, nami Waaqaa Daawiti akka ajajetti wol irraa fufuudhaa leellisaa fi galata Waaqaaf galchane.

²⁵ Mataaniyaan, Baqbuqiiyaan, Obaadiyaan, Meshulaam, Xalmoonii fi Aquub eedduu mana meyyaa, ka karra dalleya Galma Waaqaa biraa ti.

²⁶ Namooti kun bara Yoyaaqiimiin ilmi Iyaasuu akaakoo Yozaadaaqii, akkasuma bara Nahimiyaan biyya bulchuu, bara Izraan hayyichaa fi barsiisaa Seera Muuse'ee te'eeru tajaajilane.

Dalleenni Qachaa Yersaalemii Eebbifame

²⁷ Yennaa dalleenni qachaa Yersaalemii eebbifame, sibiila wolitti dhowamee qillisuun, kiraaraa fi maseenqoon, faaruu galataatiin gammadaan akka isaan jilifatanu, Lewwoota addee isaa le'anuu maraa gara Yersaalemii fidane.

²⁸ Faarfattoota maatii Lewwootaa addee isaan qubataneeranu adaala Yersaalemiitii fi adaala olloota Nefaatotaa keessaa,

²⁹ Bet-giilgaalii, Geba'aa fi Bet-Azmaawet irraa wolitti qabamane.

³⁰ Hayyootii fi Lewwooti akka aadaa dhugeeffanna'aatitti ifi qulqulleessanee, kolbaa, karra dalleyaatiif fi dalleya qacha'aa qulqulleessane.

³¹ Achiin duuba ani Nahimiyaan sooreyyii Yihuda'aa dalleya irratti akka bayanu godhee, golii gugurdoo lamatti qoodde Waaqaaf galata galchaa qachaa akka naannowanu godhe.

Goliin qaraa harka middaatiin dalleya irra gara karra, «karra kosi'ii» jedhantu dhaqane.

³² Hoshaa'iya'aa fi gamisi sooreyyii Yihuda'aa faarfattoota san duubaan ideemane;

³³ Azaariyaan, Izraan, Meshulaam,

³⁴ Yihudaan, Beniyaamin, Shemaa'iyaa fi Ermiyaas,

³⁵ ammalle Hayyooti gariin worri tultullaa afuufu, Zakaariyaasii ilma Yonaataanii, akaakoo Shemaa'iya'aa waliin dhaqane; sanyiin isaa Mataaniyaa, Mikaayaa, Zaakurii sanyii Asaafii fa'a.

³⁶ Ammalle sanyiin Zakaariyaasii: Shemaa'iyaan, Azaari'el, Milalaayi, Gilalaayi, Nataani'el, Yihuda'aa fi Haanaan, meya ittiin faarfatanu ka akka Daawitiin nama Waaqaa faarfatu qabatanee isa gula deemane; barsiisaan Seera Muuse'ee Izraan isaan sooresse.

³⁷ Karra madda bisaanii yennaa geyane, yaabbannoo irra gara qachaa Daawitii ol bayanee, mana mootummaa Daawitii irra dabaranee, karaa aduun baatuun gara karra bisaanii deebi'ane.

³⁸ Goliin* faarfattoota ta lammeesso'oo, dalleya irra gara bita'aa deemane. Anille kolbaa gamisa waliin isaan gula deemee, xelleephoo ibiddaa bira dabarree, dalleya badhaa bira geenne.

³⁹ Karra Efreemii gubbaarra, karaa karra dullatti'iitiin, karaa karra qurxummi'iitiin, karaa xelleephoo Hanaani'eliitii fi karaa xelleephoo «Dhibba» jedhantuun, gara karra hoolotaa dhandhe; karra worra eeddoota biratti dhaabbane;

⁴⁰ goliin faarfattoota lamaanuu worri Waaqaaf galata galchinu adaala Galma Waaqaa geenne.

Worra sooreyyii na waliin jiranu irratti dabalamiisaan,

⁴¹ hayyooti tultullaa afuufanu ka na waliin jiranu Eliyaaqim, Ma'aseyaa, Miyaamin, Miikaayaa, Eliyo'enaayi, Zakaariyaasii fi Hanaaniya'a;

⁴² ammalle Ma'aseyaa, Shemaa'iyaa, Ele'azaar, Uzii, Yehohaanaan, Malkiyyaa, Elaamii fi Azer; faarfattooti Yizraayaatiin sooreffamiisaan qoonqoo guddoon faarfatane.

⁴³ Guyyaa san Waaqi waan guddoo isaan gammachiiseef, kolbaan gammadaan guutantee, woreega hedduu kennite; dubartootii fi ijoolleelle gammadde. Shookkessi gammada isaanii qachaa Yersaaleemii irraa fago'otti dhage'ame.

Kennansa Tajaajila Galma Waaqaatiif Kenname

⁴⁴ Guyyuma san namooti mana meyaa ka kennansi kennamu, midhaan mata'aatii fi kudhan keessaa tokko itti kuufamu irratti itti gaafatantoota akka te'anuu muudamane; namooti kun akka Seeraatitti hayyootaa fi Lewwootaafille qooda kennamu, fichaa adaala qachoota isaanii jiru irraa mana kuusa'aatitti wolitti qabiisaafille itti gaafatamummaa qaban. Kolbaan Yihuda'aa martinuu hujii hayyootaatiifi fi Lewwootaatitti gammadde.

⁴⁵ Isaan tajaajila Waaqa isaaniitii fi aadaa dhugeeffanna'aa ta qulqulleeffanna'aa godhane. Faarfattootii fi eeddooti karraalle akkuma ajaja Daawitiitii fi ilma isaa Solomooniititti, huji ifii hujane.

⁴⁶ Bara durii, bara Daawitiitii fi Asaafii, sooreyyiin faarfattoota, faaruun leellisa Waaqaatii fi Waaqa galateeffatiisaalle hin jiraniyyu.

⁴⁷ Bara Zerubaabeliitii fi Nahimiya'aa Israa'elooti marti faarfattoota fi eeddota karraatiif qooda isaanii guyyuma guyyaan hin kennan. Kolbaa Lewwootalle'eef qooda isaanii kennaa turane; Lewwootille waan qooda ifii irraa hayyootaaf† hin kennaniyyu.

* **12:38** Goliin: Yookiin gareen † **12:47** Hayyootaaf: jechuun sanyii Aaroniitii.

13

Israa'el Orma Irraa Gargar Baate

¹ Gaafas isaan kitaaba Muuse'ee qoonqoo ol qabatanee dubbisane; kitaaba san keessalle'etti «Worri Amooniitii fi Mo'aabii ijumaa wolde'a Waaqaatitti hin makamin» jedhantee ta barreeffanteertu dhaggane.

² Worri Amooniitii fi Mo'aabii, karaa biyya Gibxi'ii irratti sagale'ee fi bisaan kolbaa Israa'eliitiif kennuu irra, Bala'aam beese'een bitanee akka kolbaa Israa'elii isaaniif abaaru waan godhaneef, ajaji kun kenname. Te'uu malee, Waaqi keenna abaarsa eebbatti jijjiire.

³ Kolbaan yennaa Seera kana dubbifamuun dhageette, sanyii ormaa Israa'elii irraa gargar baache.

⁴ Tanaan dura hayyichi Eliyaashiib, itti gaafatamaan meya Galma Waaqaa keessaa, Xobiiyaa woliin lansummaa qabaayyu.

⁵ Inni kolloo badhoo, ta dur kennansi midhaanii, kennansi hixaanaa, meya Galma Waaqaa, kennansi midhaanii ka kudhan keessaa tokkoo, daadhiin woyni'iitii fi zayitiin Lewwootaaf, faarfattootaaf, worra karra eeguufille kennamu akka keessa keyamu yaadamee hujame, akkasuma kennansi hayyootaaf kennamu keessa keyamu, Xobiiya'aaf kenne.

⁶ Artashaastan mootiin Baabilonii mootii te'ee woggaa soddonii lammeesso'ootitti ani gara mootichaa waan dhageef, yennaa san maraayyuu ani Yersaalem keessa hin jiru; yennaa diqqo'oon duuba ammoo mooticha kadhadee,

⁷ gara Yersaalemii deebi'e; achitti Eliyaashiib Galma Waaqaa keessatti kolloo tokko Xobiiya'aaf kenniisaan waan hantuu inni huje hubadhe.

⁸ Kun guddoo na aarsee, meya manaa ka Xobiiya'aa mara kolloo Galma Waaqaa san keessaa gad gate.

⁹ Achiin duuba ani kolloon akka qulqulleeffantu, meya Galma Waaqaa, kennansi midhaaniitii fi hixaanaalle akka deebi'ee itti galu ajaje.

¹⁰ Lewwootii fi faarfattooti Galma Waaqaa keessaa, qoodi isaanii waan hin kennaminiif, akka isaan gara fichaa ifii deebi'ane hubadhe.

¹¹ Maarre ani bulchitoota mormee, «Galmi Waaqaa maaniif gatame» jedhee gaafadhe; Lewwootaa fi faarfattootalle wolitti waamee hujii Galma Waaqaa keessaatitti isaan deebise.

¹² Achiin duuba kolbaan Yihuda'aa martinuu midhaan irraa, daadhii woyni'iitii fi zayitii ejersaa irraa, kudhan keessaa tokko kolloo meya Galma Waaqaatitti fidiisa jalqabane.

¹³ Ani Shelemiiyaa hayyicha, Zaadoqii barsiisaa Seeraatii fi Fadaayaa Lewwicha, addatantoota waan te'aneef, itti gaafatantoota mana meya Galma Waaqaa akka te'anu godhe; Haanaanii ilma Zaakurii, akaakoo Mataaniya'aa, qarqaaraa isaanii godhe. Hujiin isaanii qooda fira isaaniitiif kennamu qoodiisa.

¹⁴ Ee Waaqa kiyya, waan kanaaf na yaadadhu; hujii dansaa ani Galma keetiif, tajaajila isaatiif godhe haxoottee hin balleessin!

¹⁵ Bara san kolbaan Yihuda'aa guyyaa Sanbataatiin woynii cunfanuun, midhaan galfatanuun, unkuruura woyni'ii, midhaan woyni'ii, midhaan harru'uutii fi fe'iisa adda addaa guyyaa Sanbataatiin gara Yersaalemii fidaneeranuun dhagge. Tanaaf ani yennaa san sagalee akka hin gurgurre isaan dhoogge.

¹⁶ Kolbaan biyya Xiirrosii worri Yersaalem keessa le'u gariin qurxummi'ii fi waan gurguramu adda addaa, guyyaa Sanbataatiin gara Yersaalemii fidanee Yihudootatti gurguratane.

¹⁷ Ani qondaaltota Yihuda'aa mormee, «Guyyaa Sanbataatiin, wonni han-tuun isin hujjisatti jirtanu kun maan? Isin Sanbata batteessiisatti jirtan.

¹⁸ Waaqi qacha'aa fi nu irratti badii tana mara wonni fideef, abbootiin teessan badii tana hujjeefii motii? Ammalle isin Sanbata batteessiisaan Israa'el irratti mufii Waaqaa ta caaltu fidaartan» jedhe.

¹⁹ Sanbati boru jedhaa, aduun dhiitee dimimmitteen, karri Yerusaalemii akka cufantuu fi haga Sanbati dabarutti akka hin bananne ani ajaje; guyyaa Sanbataatiin fe'iis tokkolle akka ol hin seenne, tajaajiltoota tiyya keessaa garii karra karra irra dhaabbachiise.

²⁰ Daldaltootii fi worri waan adda addaa gurguratu yennaa tokko yookiin yennaa lama dalleya Yerusaalemiitiin ala bulaneeran.

²¹ Ani ammoo, «Isin maaniif dalleyaan dura bultan? Lammeessoo yoo itti deebitane, ani hunnaan isin ari'a!» jedhee isaan ifi eeggachiise. Yennaa sanii jalqabanees isaan guyyaa Sanbataatiin deebi'anee hin dhunne.

²² Lewwooti guyyaa Sanbataa woyyoonsiisaaf, ifi qulleessanee, dhaqanee karroota akka eeganu ani isaan ajaje. Ee Waaqa kiyya, waan kanaaf na yaadadhu, akka jaalala keeti guddaa bara baraatitti, na mararfadhu!

²³ Bara san ani, dhiirti Yihudootaa dubartoota Ashidoodii, Amooniitii fi Mo'aabii akka fuudhaneeranu beeke.

²⁴ Ijoollee isaanii keessaa gamis afaan worra Ashidoodii yookiin afaan kolbaa dhibi'ii keessaa tokko dubbatti malee, afaan Yihudootaa dandeettee hin dubbattu.

²⁵ Anille isaan mormee, isaan abaareelle, isaan keessaa garii dhowee, rifeensa isaan irraa buqqise; ijoollee durraa ta isaanii ilmaan ormaatitti akka hin heerumsiinne, ilmaan isaanille yookiin isaan ifiifille ijoollee durraa ta ormaa akka hin fuuneef maqaa Waaqaatiin isaan kakachiise.

²⁶ Ani isaaniin, «Mootiin Israa'elii Solomoon cubbuu ka huje fuudha akkasii kanaanii motii? Gosa biyya adda addaa keessaa mootiin akka isaa hin jiruuyyu; Waaqi isa jaalatee, Israa'el mara irratti isa mootonse; te'uu malee, dubartooti ormaa ta inni fuudhe isaayyuu akka cubbuu huju godhane» jedhe.

²⁷ Isin ijoollee durraa ta ormaa fuudhiisaan Waaqa keenna mormtanees hammeenna gudda'aa fi yakkaa akka hujjanu dhage'iisaan nuutille fakkeenna keessan hordonnaa ree?

²⁸ Yoyaadaan ilma hayyicha guddaa Eliyaashiibii ti; ilmaan Yoyaada'aa keessaa tokkochi intala Sanbalaaxii qachaa horoonii fuudhe; maarre ani akka inni Yerusaalem lakkisee deemu godhe.

²⁹ Ee Waaqa kiyya! Hujii hayyumma'aatii fi gondoorroo ati hayyootaa fi Lewwoota woliin goote akka isaan xureessane qaabadhu!

³⁰ Maarre ani hayyootaa fi Lewwoota waan orma te'e mara irraa qulleessee, tokko tokkoofuu, hujii hujanu itti kenne.

³¹ Ammalle ani qoraan ciincaa ittiin ciinceffamuu fi midhaan galfatanu keessaa ka mata'aa, yennaa murteeffantetti, gara Galma Waaqaa akka fidanu godhe.

Ee Waaqa kiyya, waan ani godhe kanaaf na yaadadhu!

Kitaaba Asteerii Seensa

Kitaaba Asteerii keessatti wonni barreeffameeru, addee mootiin mootootaa ka Faaresii ganna le'u keessatti, waan te'e yennaa te'u, dubartittii jajabeenna gudda'aa fi jaalala guddaa kolbaa ifiitiif qadduun, kolbaa ifii harka diinotaatiin badiisa irraa ta hamburte, Yihudittii janna ta, «Asteer» jedhantee moggaafante takka irratti xiyyeeffata; kitaab kun jilti Yihudootaa ta, «Furiim» jedhantee beekkantu, attam akka jalqaddee fi hiikkaan isi'ii maan akka teete hima.

Haadhoo Dubbi'ii

Asteer Giittii teete1:1–2:23

Haamaan Yihudoota Balleessiisaaf Mala dhowe3:1-15

Mordekaayi Qarqaarsa Asteer Gaafate4:1-17

Mordekaayi Ulfina Dhaggate5:1–6:14

Haama'atti Duuti Murante7:1-10

Yihudooti Diinota Ifi Irraa Dhooggatane Balleessane8:1–9:19

Jila Furiimii9:20-32

Guddinna Ahashwerosiitii fi Mordekaayii10:1-3

Giittittiin Waashit Mooticha Ahashiwerosiif Ajajamuu Didde

¹ Bara mootichi Ahashiweros biyya Hindiitii haga biyya Itoophiya'aa* biyya dhibbaa fi diddamii torba bulchu keessatti wonni te'e ka asii gad jiru:

² bara san mootichi Ahashiweros qachaa Suusaa ka dalleya dhaka'aa qabu keessatti, barcumaa mootumma'aa ka ifii irra tee'ee bulchaayyu;

³ inni mootii te'ee woggaa sadeesso'ootitti areertii† qopheessee qondaal-tota ifiitii fi worra gugurdaa waame; jila tana irratti sooreyyiin loltoota Faaresiitii fi Medoonii, sooressitooti biyyaatii fi qondaaltoti kutaa biyyaa dhaggamaneeraniyyu.

⁴ Inni guyyaa dhibbaa fi saddeettama guutuu, qabeenna guddaa mootummaa ifii, arnyaa fi ulfinna ifii mudhise.

⁵ Achiin duuba mootichi Ahashiweros worra qachaa Suusaa ka dalleya dhaka'aa qabu keessa le'u, gudda'aa fi diqqaa mara, mana mootummaa ifii keessatti badhinna oorru'uun marfametti, jila jilisee guyyaa torbaaf waame.

⁶ Badhinna addee oorru'uu sun gollaa quncee talba'aa irraa hujame adi'ii fi dhiillee qabaayyu; gollaana sun wodaroo quncee talba'aa adi'ii fi dhiillee irraa dhowamee, qubee meeti'iititti hidhamee, utubaa cabbii cululuxxu'uu irratti gad rarraafameeraayyu; taqeen gaggabaadduun worqi'ii fi meetii irraa hujamane, lafa dhakaan gatii guddo'oo adiin, diima'aa fi dadansaan dhibiin irratti afamane irra jiraniyyu.

⁷ Mootichi daadhii woyni'ii ta mootumma'aa bacaa waan qabuuf arjoomee, muduunuu adda addaa ta worqii irraa hujanteen namootaaf akka qoodanu godhe.

⁸ Nama tokko tokkoofuu akka fedha isaatitti daadhii woyni'ii akka kennanuuf, mootichi tajaajiltoota ifii mara waan ajajeef, keessummooti martinuun haga fedhane unane.

⁹ Giittittiin Waashitille mana mootumma'aa ka Ahashiwerosi keessatti dubartootaaf jila jilitte.

* 1:1 Itoophiyaa: Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali. † 1:3 Areertii: Yookiin nyaachisa yookiin affeerra.

¹⁰ Jilti jalqabantee guyyaa torbeesso'ootitti, mootichi Ahashiweros daadhii woyni'ii unee yennaa gammade, guneessota torba worra isa tajaajilanu Mihumaan, Biiztaan, Harbonaa, Biigtaan, Abaagtaa, Zetaarinii fi Karkaasin waamee,

¹¹ «Giittittiin Waashit kallacha mootumma'aa keyattee akka as dhuttu godha'a» jedhee isaan ajaje; mootichi giittittiin Waashit guddoo dansittii waan teeteef, kolba'aa fi qondaaltotatti mudhisiisaaf tana godhe.

¹² Tajaajiltooti mootichaa guneeyyiin, ajaja mootichaa giittittii Waashititti yennaa himane ammoo, isiin mooticha dura dhikaatiisa didde; achiin duuba mootichi aaree bobee'e.

¹³ Haajaa seeraatii fi haqaa ilaalchisee, beekkolee qorachuun mooticha biratti waan baratame waan teeteef, beekkolee woliin mari'ate.

¹⁴ Beekkoleen mootichi yennaa mara woliin mari'atu qondaaltota Faaresiitii fi Medoonii torba worra mootummaa keessatti baallii guddoo qabanu Karshenaa, Shetaar, Admaataa, Tarshiish, Meres, Marsena'aa fi Memukaan.

¹⁵ Mootichi, «Giittittiin Waashit ajaja ani mootichi Ahashiweros guneessota tajaajiltoota tiyya itti ergee isii ajaje waan diddeef, akka seeraattii maan isii godhuu woyya?» jedhee gaafate.

¹⁶ Achiin duuba Memukaan mootichaa fi qondaaltota duratti, «Giittittiin Waashit ka qaanessite mooticha qofa adoo hin te'in, qondaaltota maraa fi kolbaa kutaa biyya Ahashiwerosii keessa jiranu mara qaanessite.

¹⁷ Waan isiin goote kana dubartooti marti hin dhage'an; maarre isaan, «Mootichi Ahashiweros giittittii Waashit gara isaa akka dhuttuuf ajajulle, isiin ammoo dhufuu didde» jedhanee, dhirsoota ifii hin tuffatan.

¹⁸ Dubartooti qondaaltota Faaresiitii fi Medoonii worri oduu giittittii tanaa dhage'ane, adhuma tana akkuma isiin jette, isaanille dhirsoota ifitiin hin jedhan; dubartooti biyyaa martinuu dhirsoota ifitiif ulfinna kennuu lakkisane, dhirsoota ifii woliin wol hin lolan.

¹⁹ Maarre mootii keenna! Yoo fedhii teeti teete, giittittiin Waashit si mooticha Ahashiweros dura akka hin dhikaanneef, ajaja baasiitii seera Faaresiitii fi Medoonii ka jijjiiramuu hin dandeenne keessatti barreessi; giittummaa isi'iille dubartii isii caaltu ta dhibi'iif kenni.

²⁰ Achiin duuba ajaji keeti mootummaa teeti badhoo tana duudii keessatti yennaa himamu, dubartooti martinuu, kun dureessa kun hiyyeessa adoo hin jedhin dhirsoota ifitiif ulfinna hin kennan» jedhe.

²¹ Mootichii fi qondaaltoti marti gorsa kanatti gammadane; maarre mootichi akkuma Memukaan jedhe godhe.

²² Mootichi Ahashiweros barreeffama, «Abbaan manaa martinuu mana ifii irratti bulchaa te'ee, afaan kolbaa ifii dubbatuu ti!» jedhu, kutaa biyyaa tokko tokkoofuu akka isaan itti barreeffatanutti[‡], kolbaa maraaf afaan isaaniitiin barreessee, kutaa biyya mootummaa ifii maratti erge.

2

Asteer Giittii Teete

¹ Mootichi Ahashiweros aarii caffateen duuba, waan giittittiin Waashit gootee fi marroo lassii isii irratti dabarsee yaadate.

² Achiin duuba gorsitoota mootichaa keessaa worri isatti dhikaatu, mootichaan, «Durra dadansaa sii barbaadanuu ti.

³ Mootummaa teeti keessatti, kutaa biyyaa mara keessatti, durra dadansaa filanee, qachaa Suusaa ka dalleya dhaka'aa qabu keessatti gara mana dubartooti si'iif filamane le'anuu fidanee itti gaafatamaa dubartootaa guneessicha

[‡] 1:22 Akka isaan itti barreeffatanutti: Akkaataa qubee isaaniitiin jechu'u.

Hegaayitti kennanee inni isaan eeguu ti; dibati dansumma'aalle isaaniif kennamuu ti.

⁴ Achiin duuba dubartoota tana keessaa ta mooticha gammachiittu addee giittittii Waashitii, giittii teetuu ti» jedhane; gorsi kun mooticha gammachiisee, inni akkuma isaan jedhane godhe.

⁵ Bara san gosa Beniyaaminii keessaa Yihudichi tokko abuuboon Qiishii, akaakoon Shiimi'aayii, ilmi Yaa'iirii Mordekaayi qachaa Suusaa ka dalleya dhaka'aa qabu keessa jiraayyu.

⁶ Inni namoota mootiin Baabilonii Nebukadnezaar mootii Yihuda'aa Yikoniya* woliin Yerusaalessii booji'e keessaa tokko.

⁷ Mordekaayi intala obboleessa abbaa ifii ta, «Hadaasa» jedhantu ta, «Asteer» jedhantee moggaafante qabaayyu; isiin intala dhaaba toltuu fi bifa miidhaddu. Isiin abba'aa fi haadha waan hin qanneef, Mordekaayi fudhatee akka intala ifiititti isii guddise.

⁸ Ajajii fi lassiin mootichaa yennaa dhage'ante, durra hedduu gara qachaa Suusaa ka dalleya dhaka'aa qabuu fidanee, Hegaayiin dubartoota eegu, akka inni isaan eeguuf itti kennane. Asteerille gara mana mootumma'aa geessanee Hegaayitti kennane.

⁹ Asteer fuula Hegaayii duratti jaalatamaa fi fudhatama dhaggatte; innille ariiti'iin dibata dansummaa isi'iitiif barbaachisuu fi sagalee addaa kennisiiseef. Mana mootumma'aa keessaa durra filamane torba, akka isi'iif tajaajilanu addaan baaseefii, mana dubartootaa keessaa ta addee mara caaltutti tajaajiltoota isi'ii tana woliin isii dabarse.

¹⁰ Mordekaayi waan dhooggeeruuf, Asteer nama biyya kamiitii fi maatii kamii akka teetee hin mudhinne.

¹¹ Mordekaayi nageya Asteerii yookiin waan isii irra gewu beekiisaaf, guyyuma guyya'aan badhinna mana dubartootaa dura asii fi achi deddeebi'aa ture.

¹² Durri takka gara mooticha Ashiwerosii seeniisaaf, badoon isi'ii adoo hin geyiniin dura, ji'a jaa dibata qumbi'iitiin, ji'a jaa fiqire'ee fi uddowaa adda addaatiin wolumatti ji'a kudhanii lama qopheeffamuu qaddiiyyu.

¹³ Achiin duuba mana dubartootaa keessaa waan isiin barbaaddu mara kennaneefii, gara mana mootumma'aa dhaquu dandeetti.

¹⁴ Galgala mooticha woliin rattee, boruuyyaa ganama gara mana dubartootaa ka lammeesso'oo ka Sha'asgaaziin guneessichi mootichaa gursumeeyyii itti eegu dhaxxi; mootichi isi'itti gammadee maqa'aan yoo isii hin waamamin, gara isaa hin deebitu.

¹⁵ Intalti Abiihaayilii obboleessa abbaa Mordekaayii Asteer, ta Mordekaayi akka intala ifii guddiffate, badoon isiin gara mootichaa seentu yennaa geette, isiin waan Hegaayiin guneessichi dubartoota eegu akka isiin fudhattu hime malee waan tokkolle hin gaafanne. Isiin nama isii dhagge mara duratti fudhatama dhaggatte.

¹⁶ Ahashiweros mootii te'ee woggaa torbeesso'ootitti, ji'a kudhaneesso'oo ka, «Xebet» jedhamu keessa gara mana mootumma'aa isii geessane.

¹⁷ Mootichi durra taan caalaa Asteer jaalate; isiin durra san mara keessaa isa duratti fudhatama dhaggatte. Maarre mootichi kallacha mootumma'aa itti keyee, addee Waashitiititti akka isiin giittii teetu godhe.

¹⁸ Achiin duuba mootichi ulfinna Asteeriitiif, namoota gugurda'aa fi qondaaltota mootumma'aatiif areertii guddoo qopheesse; kutaa biyyaa maratti guyyaa jilaa lassee akka arjummaa ifiititti kennansa namootaaf kenne.

* **2:6 Mootichi Yikoniyaan:** Mooticha Yehoyaakiin ka kitaaba 2 Mot. 24:6 keessa jiru woliin tokkuma.

Mordekaayi Lubbuu Mootichaa Hambure

¹⁹ Lammeessoo durri sun yennaa wolitti qabante, Mordekaayi karra mootichaa dura tee'eeraayyu.

²⁰ Asteer Mordekaayi yennaa isii guddise isaaf ajajamaa waan turteef, gorsa isaa hordofiisaaf, akkuma inni isi'itti hime, nama biyya kamiitii fi maatii kamii akka teete hin mudhinne.

²¹ Bara Mordekaayi karra mootichaa dura tee'u san, worra karra mootichaa eegu keessaa namooti lama Biigtaanii fi Teresh aarane, mooticha Ahashiweros ijjeessiisaaf mala dhowane.

²² Mordekaayi ammoo mala dhowame kana beekke, giittittii Asteeritti hime. Isiille akka Mordekaayi mala dhowame kana beekke mootichatti hinte.

²³ Dubbiin qorantantee dhugaa yennaa teete, jarri lamaanuu muka irratti fannifamane; wonni kun marti mooticha duratti galmee dabarsi'ii keessatti barreeffante.

3*Haamaan Yihudoota Balleessiisaaf Mala Dhowe*

¹ Waan kanaan duuba mootichi Ahashiweros, ilma Hamedataa'aa, Haamaanii sanyii Agaagii te'eef* ulfinna kennee, qondaaltota dhibii mara caalaa baallii guddoo kenneef.

² Isaan Haamaaniif jilbiiffatanee ulfinna akka kennanu mootichi waan ajajeef, tajaajiltooti mootichaa worri seensuma karra mootichaa jiranu marti, jilbiiffatanee Haamaaniif ulfinna kennane; Mordekaayi ammoo hin jilbiiffanne yookiin ulfinna isaaf hin kennine.

³ Achiin duuba tajaajiltooti mootichaa worri seensuma karraa jiranu, «Ati ajaja mootichaa maaniif diddaa?» jedhanee Mordekaayi gaafatane.

⁴ Guyyuma guyya'aan itti deddeebi'ane gaafatane; inni ammoo hin dhageenne. Inni Yihudii akka te'e isaanitti waan himeef, didduma tanaan akka inni hafu beekuu barbaadane, dhaqanee marroo isaa Haamaanitti himane.

⁵ Haamaan akka Mordekaayi isaaf hin jilbiiffatin yookiin ulfinna isaaf hin kennin yennaa dhagge, akka malee aare.

⁶ Gosi isaa Yihudii akka te'e waan itti himaneef, Haamaan Mordekaayi callaa ijjeesuu tuffate; addee san Yihudoota kolbaa Mordekaayii mara mootummaa Ahashiwerosii duudii keessaa balleessiisaaf mala dhowe.

⁷ Ahashiweros mootii te'ee woggaa kudhanii lammeesso'ootitti, ji'a tokkeesso'oo ka «Niisaan» jedhamu keessa [guyya'aa fi ji'a gargar baasane beekiisaaf] Haamaan duratti hixaa «Puuriim» jedhamu buusane; hixalle ji'a kudhanii lammeesso'oo ka «Adaar» jedhamu irra bu'e.

⁸ Achiin duuba Haamaan mooticha Ahashiwerosiin, «Kolbaa Kutaa biyya mootummaa teetii mara odduu kolbaan bittinnoottee leetu takka jirti; seerri isaanii seeraa kolbaa dhibi'ii mara irraa adda; seera mootichaatiifille hin ajajamanu; tanaaf kolbaa tana cadhisane ilaaluun mootichaaf hin toltu.

⁹ Dubbiin tun si mooticha yoo gammachiitte, isaan balleessiisaaf lassiin baatuu ti; akka isaan mana meyya keeti keessa keyanu, anille namoota itti gaafatantoota mana meyaatitti meetii kiiloogiraama kuma dhibba sadii fi afurtamaa hin kenna» jedhe.

¹⁰ Maarre mootichi qubee chaappa'aa quba ifii irraa baasee, ilma Hamedataa'aa, Haamaanii sanyii Agaagii ka diina Yihudootaa te'e sanitti kenne.

* **3:1** Agaag: Mootii Amaaleeqootaa ti; kolbaan isaa diinota kolbaa Israa'elii turte. 1Sa 15:8,33.

¹¹ Mootichi Hamaaniin, «Meetiin si'iifuu hattuu ti; kolbaalle teetuma, waan feete godhadhu» jedhe.

¹² Achiin duuba ji'a tokkeesso'oo, gaafa guyyaa kudhanii sadeesso'oo, barreessitooti mootichaa waamamane; isaan ajaja Haamaanii mara kutaa biyyaa tokko tokkootiifuu akka isaan itti barreeffatanutti[†], afaan isaaniitiin bulchitoota biyyoota mooticha jala jirtuutiif, bulchitoota kutaa biyyaa ta adda addaatiif fi qondaaltota kolbaa adda addaatiif maqaa mooticha Ahash-werosiitiin barreessanee chaappaa qubee quba mootichaatiin dhowane.

¹³ Ajaji barreeffamaa namoota rukke'een geessanutti kennamee, ji'a kudhanii lammeesso'oo ka «Adaar» jedhamu keessa guyyaa kudhanii sadeesso'oo, dargaggoota, jaarsolee, dubartootaa fi ijoollee Yihudootaa mara guyyaa tokkocha akka balleessanu, akka ijjeesanuu fi ijjumaa akka haxowanu, qabeenna isaaniille akka saamanuuf gara kutaa biyya mootichaa maratti ergame.

¹⁴ Kolbaan marti guyyaa saniif akka qophoottuuf, barreeffam ajaja san irraa garagalfamee gosa kutaa biyyaa keessa jiranu maratti beessifame.

¹⁵ Ergantooti ajaja mootichaatiin ariifatane bayane; ajaji sun qachaa Suusaa ka dalleya dhaka'aa qabu keessatti maxxanfame. Mootichii fi Haamaan uniisaaf tee'ane; worri qachaa Suusaa ammoo raafame.

4

Mordekaayi Qarqaarsa Asteer Gaafate

¹ Mordekaayi waan te'e san mara yennaa beeke, gaddee woyaa ifii tarsiise. Achiin duuba woyaa gaddaa uffatee, daadhaa mataa ifii irratti firfirsee, qoonqoo ol qabatee mararfatee bowaa gara qacha'aa seene.

² Nami woyaa gaddaa uffatee, seensuma karra mootumma'aa akka seenu waan hin eeyyanneef, inni haga seensuma karra mootichaa qofa dhage.

³ Kutaa biyyaa ta ajajaa fi lassiin mootichaa geette maratti, Yihudoota oddu'utti gaddi guddaan te'ee, laamanee, wiiccifatane bowane; worri hedduulle woyaa gaddaa uffatee, daadhaa ifi irratti firfirsee tee'e.

⁴ Durrii fi guneessoti Asteer tajaajilanu, marroo Mordekaayii yennaa isi'itti himane guddoo rifatee, addee woyaa gaddaa woyaa dhibii akka uffatu isaaf ergite; inni ammoo fudhatuu dide.

⁵ Achiin duuba Asteer guneessicha akka isii tajaajiluuf guneeyyii mootichaa keessaa filame ka «Hataak» jedhamu tokko waantee, Mordekaayi maan akka rakkatee fi maaf akkas akka te'e akka gaafatu itti ergite.

⁶ Maarre Hataak badhinna karra mana mootumma'aa dura jirtu keessatti, gara Mordekaayii dhage.

⁷ Mordekaayi waan isa irra dhaqqabe maraa fi Haamaan kolbaa Yihudootaa balleessiisaaf beesee hagamii, mana meyyaa ka mootichaatiitti galii godhiisaaf waadaa akka gale itti hime.

⁸ Kolbaa Yihudootaa balleessiisaaf qachaa Suusaa keessatti, barreeffama lassii baate irraa garagalfame, akka Asteeritti mudhisee diidessuu fi akka isiin gara mootichaa dhaxxee kolbaa ifitiif marartii akka isa kadhattu, akka isii ajaju Mordekaayi Hataakitti hime.

⁹ Hataak deebi'ee deemee waan Mordekaayi jedhe Asteeritti hime.

¹⁰ Achiin duuba Asteer gara Mordekaayi isa ergitee,

[†] 3:12 Akka isaan itti barreeffatanutti: Akkaataa qubee isaaniitiin jechu'u.

¹¹ «Tajaajiltooti mootichaatii fi kolbaan kutaa biyya mootichaa keessatti dhaggamanu marti, dhiirti yookiin dubartiin adoo hin waamamin, badhinna mana mootumma'aa ka gara keessaa seenee mootichatti ka dhikaateef, mootichi seera tokko qofa akka qabu eennulle hin beeka; kunille nami sun hin ijjeefama; te'uu malee nami mootichi ulee ifii ta worqii irraa hujante itti qabe hin ijjeefamu; ani ammoo gara mootichaa akka seenuuf haga waamameen guyyaan soddom dabareera» jedhiin» jetteen.

¹² Ergaa Asteerii Mordekaayitti yennaa himane,

¹³ inni deebisee, «Ati mana mootumma'aa keessa waan jirtuuf, Yihudoota mara keessaa ati callaan waan hatu hin seyin.

¹⁴ Yennaa akkanaa tana ati cadhittee yoo ilaalte, Yihudoota ka qarqaaruu fi ka baasu addee dhibi'ii hin dhufa; atii fi maatiin abbaa keetii ammoo hin dhumattan. Giittii te'iis keeti yennaa akkanaa tanaaf te'uu maanti beeka?» jedhee Asteeritti erge.

¹⁵ Achiin duuba Asteer deebii tana Mordekaayitti ergitee,

¹⁶ «Dhaqiitii, Yihudoota Susaan keessa jiranu wolitti qabiitii, naaf laama'a; haga guyyaa sadiitii fi halkan sadii womaa hin nyaatina'a; hin uninaalle'e. Anii fi durri tajaajiltooti tiyya akkasuma hin goona. Saniin duuba seerri dhooggulle, gara mootichaa hin dhaqa; yoo du'elle du'uu ti» jette.

¹⁷ Maarre Mordekaayi deemee, waan Asteer isa ajajjee mara godhe.

5

Gaaffii Asteer Mooticha Gaafatte

¹ Guyyaa sadeesso'oo Asteer woyaa ifii ta mootumma'aa uffattee, badhinna mana mootumma'aa ka gara keessaa seentee, mana mootichi tee'uu dura dhaabbatte; mootichi mana mootumma'aa ka ifii keessa fuullee seensuma karraa, barcumaa mootummaa ifii irra tee'eeraayyu.

² Mootichi, Asteeriin giittittiin ala dhaabbatteertuun yennaa dhagge, isiin isa duratti fudhatama dhaggattee, inni ulee ifii ta worqi'ii gara isi'ii qabe; isiille itti dhikaattee qaccee ulee sanii tuxxe.

³ Achiin duuba Mootichi isi'iin, «Giittii Asteer maaloo? Maan barbaadda? Haga gamisa mootummaa tiyyaalle teetu si'iif hin kenna» jedhe.

⁴ Asteer deebittee, «Mooticha, yoo si gammachiitte, areertii ani adha si'iif qopheesse irratti Haamaan woliin kowa'a» jette.

⁵ Kanaan duuba mootichi tajaajiltoota ifitiin, «Waan Asteer gaafatte akka goonu, ariiti'iin Haamaan waama'a!» jedhe; maarre mootichii fi Haamaan gara areertii Asteer qopheessitee dhaqane.

⁶ Daadhii woyni'ii adoo uniisatti jiranuu mootichi ammalle Asteeriin, «Wonni ati gaafattu maan? Si'iif hin kennama; wonni ati barbaaddu maan? Haga gamisa mootummaa tiyyaalle teetu si'iif hin kennanti» jedhe.

⁷ Asteer deebittee, «Gaaffiin tiyyaa fi wonni ani barbaadu,

⁸ ani yoo si duratti fudhatama dhaggadhee, waan ani si gaafadhe naa kenniisaaf, waan ani barbaadelle naa muummessiisaaf yoo si gammachiitte, atii fi Haamaan areertii ani isiniif qopheessu irratti boru dhaggama'a. Achiin duuba anille gaaffii teetiif deebii hin kenna» jette.

⁹ Guyyaa san Haamaan gammadee miirri isaa itti tolee, achii gad bayee deeme; inni karra mootichaa duratti Mordekaayi yennaa dhagge ammoo, waan inni isaaf ol hin ka'iniif yookiin sodaatee hin sheephisiniif Mordekaayitti guddoo aare.

¹⁰ Te'uu malee Haamaan akkuma te'e te'ee ossee, mana ifii dhaqe; achiin duuba inni jaalota ifiitii fi haadha manaa ifii Zereesh waansisee,

¹¹ dureessa akka te'e, ijoolleen isaa hedduu akka teete, mootichille qondaaltotaa fi tajaajiltoota dhibii caalaa ulfinna guddaa attamii akka isaaf kenne odeessaa koore.

¹² Haamaan ede'eelle, «Tana qofa adoo hin te'in, areertii giittittiin Asteer qopheessite irratti mooticha woliin ana malee nami waamame tokkolle hin jiru; isiin borulle mooticha woliin na waanteerti.

¹³ Ammoo Mordekaayiin Yihudichi seensuma karra mootichaa tee'uun waan dhagguuf, tun marti na hin gammachiitu» jedhe.

¹⁴ Achiin duuba haati manaa isaa Zereshii fi jaaloti isaa marti, «Muka nama itti fannisanu ka dheerinni isaa ciqilee shantamaa qopheessiitii, Mordekaayi itti fannisiisaaf boru barii mooticha gaafadhu; achiin duuba gammadaa mooticha woliin gara areerti'ii deenta» jedhaneen.

Yaadi kun Haamaan waan gammachiiseef, muka itti fannisanu qopheesse.

6

Mordekaayi Ulfina Dhaggate

¹ Halkan san mootichi hirriiba waan dhabeef, kitaaba dabarsiin mootumma'aa itti galmeeffante fidanee akka dubbisanu ajaje; isaanille fidanee dubbisaneef.

² Kitaaba san keessatti guneessoti balbala mootichaa eegamu lamaan Biig-taanaanii fi Teresh, mooticha ijjeesiisaaf mala dhowane, Mordekaayi attam akka hime barreeffamee dhaggame.

³ Mootichi, «Tana waan godheef ulfinnii fi guddinni Mordekaayi dhaggate maan?» jedhee gaafate.

Tajaajiltooti isaa deebittee, «Wonni tokkolle isaaf hin godhanne» jette.

⁴ Mootichi, «Badhinna mana mootumma'aa keessa eentu jira?» jedhee gaafate; yennaa san Haamaan muka nama itti fannisanu qopheesse san irratti Mordekaayi akka fannifamu eeyyama mooticha irraa gaafatiisaaf, badhinna mana mootumma'aa ka gara alaa reefuu seeniisatti jiraayyu.

⁵ Maarre tajaajiltooti mootichaa, «Kunoo, Haamaan badhinna dhaabbateera» jetteen.

Mootichille, «Seen jedha'aan» jedhee ajaje.

⁶ Yennaa Haamaan seene mootichi, «Nama mootichi ulfinna guddaa kennuu fedhuuf maanti godhama?» jedhee isa gaafate.

Haamaalle, «Na caalaa nami mootiin ulfinna kennuuf eentu jira ree?» jedhee yaadate.

⁷ Maarre Haamaan deebisee mootichaan, «Nama mootiin ulfinna kennuu fedhuuf,

⁸ woyaa mootumma'aa ta mootiin ifiif uffattuu fi farda mootiin ifiif irraa tee'u ka kallachi mootichaa mataa isaatitti keyame akka fidanu godhi.

⁹ Achiin duuba woyaan sunii fi fardi sun qondaaltota gugurdoo mootumma'aa keessaa nama tokkotti kennamuu ti; inni nama mootiin ulfinna kennuu fedhuu sanitti uffisee, farda isaaf qophowe irra teessisee, badhinna qacha'aa keessa dura isaa ideemaa, «Nama mootiin ulfinna kennuu fedhuuf, akkana godhama» jedhee lassuu ti» jedhe.

¹⁰ Mootichi Haamaan ajajee, «Ariifadhuutii, akkuma amma jette, woyaa'aa fi farda qopheessiitii, Mordekaayii Yihudicha karra mootichaa dura tee'eeruuf, akkuma amma jette godhiif; waan dubbatte mara keessaa takkaalle hin hafin» jedhe.

¹¹ Maarre Haamaan woyaa'aa fi farda qopheessee, woyaa Mordekaayitti uffise; Mordekaayi farda irraa tee'een duuba, Haamaan badhinna qacha'aa

keessa isa dura deemaa, «Nama mootiin ulfinna kennuu fedhuuf, akkana godhama!» jedhee lasse.

¹² Achiin duuba Mordekaayi gara karra mootichaa deebi'e; Haamaan ammoo gaddee mataa ifii hagooggatee gara mana ifii fiige.

¹³ Inni waan isa irratti te'e mara haadha manaa ifii Zereshii fi gorsitoota ifii san maratti hime. Achiin duuba haati manaa isaatii fi gorsitooti isaa sun, «Mordekaayiin ati amma isa duratti jilbiiffatiisa jalqadde kun, sanyii Yihudi'ii yoo te'e, isa injifatiisaaf hin dandeettu. Ati dhugumaan hin badda» jedhaneen.

¹⁴ Isaan adoo isa woliin dubbatiisatti jiranuu, guneeyyiin mootichaa dhu-fanee, ariiti'iin Haamaan gara areertii Asteer qopheessitee geessane.

7

Haamaanitti Duuti Murante

¹ Maarre mootichii fi Haamaan gara areertii giittittiin Asteer qopheessitee dhaqane.

² Guyyaa lammeesso'oo daadhii woyni'ii uniisatti adoo jiranuu mootichi ammalle, «Giittittii Asteer, wonni ati gaafattu maan? Si'iif hin kennama; wonni ati barbaaddu maan? Haga gamisa mootummaa tiyyaalle teetu si'iif hin kennanti» jedhe.

³ Giittittiin Asteer deebittee, «Mooticha kiyya, si duratti fudhatama dhag-gadhee, ka si gammachiisu yoo te'e, akka ani hin duune na hamburi, wonni gaafadhu tana; kolbaa tiyyalle hamburi, wonni ani barbaadu tana.

⁴ Anii fi kolbaan tiyya badiisaaf, ijjeefamiisaa fi muxuqi jedhiisaaf gurguranneera; nuuti dhiiraa fi dubartiin garba te'iisaaf adoo gurgurannee jiraanne, tun mooticha rakkisuu waan hin geenneef ani silaa hin cad-hisaayyu» jette.

⁵ Achiin duuba mootichi Ahashiweros, «Nami tana godhiisaaf game eennu? Nami kun eessa jira?» jedhee giittittii Asteer gaafate.

⁶ Asteer deebittee, «Nyaaphi keennaa fi diinni keenna Haamaanii nama hamaa kana!» jette.

Achiin duuba Haamaan mootichaa fi giittittii duratti bararaqe.

⁷ Mootichi aari'iin ol ka'ee, daadhii woyni'ii lakkisee gad bayee, gara oorruu mana mootumma'aa dhage. Haamaan ammoo akka mootichi isa ijjeesiisaaf murteeffate beekke, du'a irraa ifi hamburiisaaf, Asteer kadhatiisaaf duubatti hafe.

⁸ Mootichi oorruu mana mootumma'aatii gara mana areerti'ii yennaa deebi'e, Haamaan taqee giittittiin Asteer irra irkattu irratti jigeeraayyu; mootichi, «Namichi kun mana keessatti, adduma ani jirutti giittittii Asteer woliin hunnaan rafiisa fedhaa?» jedhe.

Akkuma mootichi tana dubbateen, tajaajiltooti fuula Haama'aa gollane*

⁹ Achiin duuba guneeessota keessaa «Harbonaa» ka jedhamu, «Kunoo, muki nama itti fannisanu ka dheerinni isaa ciqilee shantamaa mana Haamaanii bira jira; Haamaan muka kana Mordekaayii si mooticha du'a irraa hamburiisaaf dubbate itti fannisiisaaf qopheesse» jedhe.

Mootichille, «Haamaan muka san irratti fannisa'a» jedhee ajaje.

¹⁰ Maarre Haamaan muka Mordekaayiif qopheesse san irratti fannifame; achiin duuba aariin mootichaa qabbanootte.

* **7:8** *Fuula Haama'aa gollane*: Akka seera isaaniititti fuula golliis duuti akka itti murante mudhisa.

8

Mootichi Kolbaa Yihudootaa Qarqaare

¹ Guyyuma san mootichi Ahashiweros karra Haamaanii diina Yihudootaa san Asteerii giittitti'iif kenne; isiin Mordekaayi woliin firooma akka qabanu mootichatti waan hinteef, Mordekaayi mooticha dura dhikaate.

² Mootichi qubee quba ifii ta chaappaa qaddu, ta Haamaan irraa fudha-teeru san, ifi irraa baafatee Mordekaayiif kenne. Asteerille karra Haamaanii san irratti Mordekaayiif baallii kennite.

³ Ammalle Asteer miila mootichaattitti jiddee, karoorri hamaan, sanyiin Agaagii ka te'e Haamaan Yihudoota irratti baase sun, isaan irraa akka ka'uuf iyyitee boottee isa kadhate.

⁴ Mootichi ankaashee worqi'ii gara Asteerii waan qabeef, isiin ol kaatee isa dura dhaabbatee,

⁵ «Mooticha kiyya, yoo si gammachiitte, anille si duratti fudhatama yoo dhaggadhe, tana godhiis sirrii yoo sitti fakkaatte, analle'etti yoo gammadde, barreeffam sanyiin Agaagii ilmi Hamedataa Haamaan, Yihudoota mootummaa teeti keessa jiranu mara balleessiisaaf karoorfatee barreesse san, ajaji kaasu barreeffamuu ti!

⁶ Ani balaa kolbaa tiyya irraa gewu, badii maatii tiyyaalle dhaggaa attam ossuu dande'a ree?» jette.

⁷ Achiin duuba mootichi Ahashiweros, Asteerii fi Mordekaayii Yihudichaan, «Kunoo, Haamaan Yihudoota balleessiisaaf mala waan dhoweef, karra isaa Asteeriiif kenneera; isalle muka irratti fannisaneeran.

⁸ Barreeffam maqaa mooti'iitiin barreeffamee chaappaa qubee isaatiin mallatteeffame waan hin jijjiiranneef, isin marroo Yihudootaatiif waan dansaa isinitti fakkaate, maqaa kiyyaan barreessa'atii, chaappaa qubee tiyyaatiin dhowa'a!» jedhe.

⁹ Ji'a sadeesso'oo ka «Siiwaa» jedhamu, guyyaa diddamii sadeesso'ootitti barreesitooti mootummaa'aa waamamane; isaan ajaja Mordekaayii mara akka isaan itti barreeffatanutti*, afaan isaaniitiin bulchitoota biyyoota mooticha jala jirtuutiif, bulchitoota kutaa biyyaa ta adda addaatiif fi qondaaltota biyyaatiif, Yihudootaaf, qondaaltota worra biyya Hindiitii haga biyya Itoophiya'aa†, kutaa biyyaa dhibbaa fi diddamii torba keessatti dhagga-manuuf, maqaa mooticha Ahashwerosiitiin barreessanee, qubee mootichaa ta chaappaa qadduun dhowane.

¹⁰ Mordekaayi barreeffama kana maqaa mooticha Ahashiwerosiitiin barreessee, chaappaa qubee mootichaatiin dhowee, ergantoota fardoo qo-qolchaa mootichaaf leenjifanteen gulufanuun erge.

¹¹ Yihudooti qachaa gara garaa keessa le'anuu wolitti qabamanee, akka ifi irraa dhooggatanu, hunna gosa adda addaa ta kutaa biyyaa mara keessaa isaanii fi dubartoota isaanii, ijoollee isaaniille loliisaaf gara isaanii dhufanu, akka balleessanu, akka ijjeessanu, akka fixanuu fi karra isaaniille akka saamanuuf, barreeffama kana keessatti mootichi eeyyameef.

¹² Yihudooti kutaa biyya mooticha Ahashiwerosii mara keessatti, ji'a kudhanii lammeesso'oo ka «Adaar» jedhamu keessa, guyyaa kudhanii sadeesso'ootitti guyyaa tokkocha kana akka godhanuuf murteeffame.

¹³ Guyyaa san Yihudooti diinota ifii haluu bayiisaaf akka qophowanu barreeffam ajaja san irraa garagalfamee, gara kutaa biyyaa ta gara garaatii fi kolbaa gosa biyya gara garaattitti seera te'ee akka beekkamuu beessifame.

* **8:9** Akka isaan itti barreeffatanutti: Akkaataa qubee isaaniitiin jechu'u. † **8:9** Itoophiyaa: Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali.

¹⁴ Ergantooti fardoo mana mootumma'aa irra tee'aneeranu, ajaja mootichaatiin ariiti'iin bayane; lassiin sun qachaa Suusaa keessatti laffante.

¹⁵ Mordekaayi woyaa mootumma'aa bifa cuquliisaa fakkaattuu fi adii uffatee, kallacha worqi'ii guddaa keyatee, woyaa dhiillee quncee talba'aa dansaa irraa hujante uffatee mooticha biraa gad baye; yennaa san worri qachaa Suusaa gammadanee ilillisane.

¹⁶ Kun Yihudootaaf yennaa ifaa, yennaa gammadaa, yennaa burraassatii fi yennaa ulfinnaa te'e.

¹⁷ Kutaa biyyaa mara keessaa fi qachoota mara keessatti, addee lassiin mootichaa dhaqqadde maratti, Yihudooti gammadanee burraaqanee jila jil-ifatane; kolbaa biyya dhibi'ii keessaa hedduun Yihudoota waan sodaataneef, Yihudootatti galane.

9

Yihudooti Diinota Ifi Balleessane

¹ Ji'a kudhanii lammeesso'oo ka, «Adaar» jedhamu, guyyaan kudhanii sadeesso'oo lassiin ajaja mootichaatiin baate guyyaa muummottuuyyu; guyyaa kanatti diinoti Yihudoota injifatiisaaf addii godhataneeraniyyu; ammoo haalli jijjiiramee Yihudooti worra isaan jibbu injifatane.

² Yihudooti worra isaan miidhiisaaf barbaadanu loliisaaf, kutaa biyya mootii Ahashiwerosii mara keessatti qachuma qachaa ifii keessatti wolitti qabamane; kolbaan dhibiin ta biyya gara garaa marti Yihudoota waan sodaataneef, eennulle isaan injifatiisa hin dandeenne.

³ Qondaaltoti, sooressitooti, bulchitooti kutaa biyyaatii fi qondaaltoti mootichaa marti Mordekaayi waan sodaataneef Yihudoota qargaarane.

⁴ Mordekaayi mana mootumma'aa keessatti guddoo beekkamaa te'e; baalliin isaa ittuma ede'amaa waan deenteef, gurri isaa kutaa biyyaa maratti dhage'ame.

⁵ Maarre Yihudooti diinota ifii mara shallaaga'aan ijjeesane fixane; isaan worra isaan jibbu irratti waan fedhane godhane.

⁶ Qachaa Suusaa keessatti Yihudooti namoota dhibba shan ijjeesane fixane.

⁷ Ammalle, Phaارشandaataa, Daalfon, Asfaataa,

⁸ Phoraataa, Adaaliyaa, Ariidaataa,

⁹ Paarmashitaa, Ariisayi, Ariidayii fi Wayzaataa,

¹⁰ ilmaan kudhan ta Haamaanii ilma Hamedataa'aa ka diina Yihudootaa te'ee ijjeesane. Karra isaanii ammoo hin saanne.

¹¹ Laakkossi namoota qachaa Suusaa keessatti ijjeefamanee guyyuma san mootichatti himame.

¹² Mootichi giittittii Asteeriin, «Yihudooti qachaa Suusaa keessatti, namoota dhibba shanii fi ilmaan Haamaanii kudhan ijjeesane; kutaa biyya tiyyaa ka hafane keessatti maan godhaneeran laati? Amma wonni ati gaafattu maan? Si'iif hin kennama; wonni ati barbaaddu maan? Si'iif hin kennama!» jedhe.

¹³ Asteer deebittee, «Mootii kiyya, yoo si gammachiitte, Yihudooti qachaa Susaan keessa jiranu, waan adha godhane, borulle akka godhanu eeyya-mamuufii! Reeffer ilmaan Haamaanii kudhanille muka nama itti fannisanu irratti fannifamuu ti» jettee gaafatte.

¹⁴ Maarre mootichi kun akka godhamu ajaje; lassiin qachaa Suusaa keessatti laffantee, reeffi ilmaan Haamaanii kudhanii muka nama itti fannisanu irratti fannifame.

¹⁵ Yihudooti qachaa Suusaa keessa le'anuu, ji'a «Adaar» jedhamu guyyaa kudhanii arfeesso'ootitti, wolitti qabamanee, qachaa Suusaa keessatti namoota dhibba sadii ijjeesane; karra isaanii ammoo hin saanne.

¹⁶ Yihudooti dhibiin worri kutaa biyyaa keessa le'anulle, diinota ifii ifi irraa dhooggatiisaaf, diinota ifii jalalle'ee bayiisaaf wolitti qabamane. Worra isaan jibbu keessaa namoota kuma torbaatamii shan ijjeesane; Karra isaanii ammoo hin saanne.

¹⁷ Kun ji'a «Adaar» jedhamu guyyaa kudhanii sadeesso'ootitti te'e; guyyaa kudhanii arfeesso'oo foorfatane, guyyaa jilaatii fi gammadaa godhatane.

¹⁸ Yihudooti qachaa Suusaa keessa le'anuu ammoo, guyyaa kudhanii sadeesso'ootii fi kudhanii arfeesso'oo wolitti qabamane; achiin duuba guyyaa kudhanii shaneesso'oo foorfatane guyyaa jilaatii fi gammadaa godhatane.

¹⁹ Sababa kanaaf Yihudooti ollaa baadiyya'aa keessa le'anuu, ji'a «Adaar» jedhamu guyyaa kudhanii arfeesso'oo, guyyaa jilaatii fi gammadaa, guyyaa itti kennansa waliif kennanu godhatan.

Jila Furiimii

²⁰ Mordekaayi waan te'e kana barreessee, Yihudoota kutaa biyyaa ka dhiko'oo fi fagoo jiranu maraaf erge.

²¹ Inni wogguma wogga'aan ji'a, «Adaar» jedhamu guyyaa kudhanii arfeesso'ootii fi kudhanii shaneesso'oo guyyaa jilaa akka godhatanu isaanitti hime.

²² Guyyooti kun guyyoota Yihudooti harka diinota ifii jalaa bayanee foora itti dhaggatane; ji'i kunille ji'a gaddi isaanii gammadatti, bootti isaanii kollatti jijjiirante waan te'eef jilifatane; guyyoota kana guyyoota jilaa, guyyoota gammadaa, guyyoota kennaa sagale'ee waliif kennanuu fi guyyoota hiyyeeyyii qarqaaranu akka godhatanu isaaniif barreesse.

²³ Maarre akkuma Mordekaayi isaaniif barreesetti Yihudooti jila jilifatuu jalqabane san jilifatiisaaf wolii galane.

²⁴ Diinni Yihudoota maraa, sanyiin Haagaagii, ilmi Hamendaata'aa Haamaan hixaa, «Furiim» jedhamu buufatiisaan Yihudoota mara balleessiisaaf mala dhoweeraayyu.

²⁵ Mootichi mala hamaa kana yennaa beeke, malli Haamaan Yihudoota irratti male sun isuma irratti akka deebi'u, innii fi ilmaan isaa muka nama itti fannisanu irratti akka fannifamanu ajaja barreeffamaa baase.

²⁶ Tanaaf guyyoota kana jecha, «Fur» jedhamu irraa, «Furiim» jedhanee baasane; sababa waan xalayaa kana irratti barreeffame maraatiif, sababa waan dhagganeetii fi waan isaan irra dhaqqabe maraatiif,

²⁷ Yihudooti ifii fi sanyii ifitiif, worra Yihudi'itti galane maraafille, akka barreeffama kanaatitti guyyoota lamaan kana wogguma wogga'aan yennaa isaa eegane akka jilifatanuuf seera baafatane.

²⁸ Guyyooti «Furiim» jedhamanu kun dhaloota mara keessatti, maatii mara keessatti, kutaa biyyaa mara keessatti, qachoota mara keessatti qaabatamu'uu fi jilifamuu qaban; guyyooti kun adoo hin qaabatamin hin hafanu; dhaloota mara oddu'utti yennaa mara jilifamuu qaban.

²⁹ Maarre Asteeriin giittittiin, intalti Abihaayilii, Mordekaayii Yihudicha waliin xalayaa lammeesso'oo, ka marroo Furiimii kana jabeessiisaaf baallii guutu'uun barreessane.

³⁰ Mordekaayi Yihudoota kutaa biyyaa dhibbaa fi diddamii torba keessa jiranu maraaf, xalayaa nageyaa fi qabbana isaaniif halchu ergee,

³¹ «Akkuma guyyooti laamaatii fi gaddaa eegatamane, nuuti Yihudootii fi sanyiin teenna guyyoota Furiimii akka eegannee jilifannu hundeessiisaaf, tana barreesse. Waan kana irratti ani Mordekaayiin Yihudichii fi Asteeriin giittittiin wolii galleerra» jedhe.

³² Ajaji Asteerii seerata marroo guyyoota Furiimiitiif baye jabeesse; kunille galmee keessatti barreeffame.

10

Mordekaayi Ulfina Guddaa Dhaggate

¹ Mootichi Ahashiweros lafa mootummaan isaa geette maraa fi oddoolota mootummaa isaa jala jiranu mara irratti gibira buuse.

² Wonni guddoon inni hunnaa fi jabeenna ifitiin huje martinuu, mootichi attamiin akka Mordekaayi nama beekkamaa godhelle, kitaaba dabarsii mootota Medooniitii fi Faaresii keessatti barreeffanteerti.

³ Mordekaayiin Yihudichi itti aanaa mooticha Ahashiwerosii ti; Yihudoota odduulle'etti nama ulfaata'aa fi nama jaalatama'a. Inni kolbaa ifitiif waan dansaa waan hujee fi nageya sanyii isaanii maraaf waan dubbateef, Yihudoota hedduu oddu'utti nama ulfinna guddaa qabu.

Kitaaba Iyoobii Seensa

Kitaab Iyoobii dabarsii marroo namicha dansaa rakkoon jaddu'uu fi balaan irra dhaqqabe tokkoo hima. Nami kun ijoollee ifitii fi qabeenna ifii mara dhabiisa qofa adoo hin te'in, madaa hantu'uun farre. Achiin duuba wolaloo sad ta akka mari'iitiin dhikaatteen Iyoobii fi jaaloti isaa haala farrisiisaa akkanaatiin waan itti dhage'ame mudhisan. Dhuma irratti Waaqi ifiifuu Iyoobitti mudhata.

Jaaloti Iyoobii rakkoo isa irra dhaqqadde yaada dhugeeffannaa aada'aatiin diidessan. Tanaaf isaan, «Waaqi nama qajeela'aaf waan dansaa kenna; nama hamaa hin adaba; tanaaf Iyoob cubbuu waan hujeeff rakkoon tun isa irra dhaqqadde» jedhan. Iyoob nama balcha'aa fi qajeelaa waan te'eef, adabbiin hantuun tun ammoo ta isa irra dhaqqabu'uuf hin malle. Wonni hiibboo te'e nama balchaa akkasii irratti adabbiin hantuun dhaqqabiisa. Iyoob dhugeeffannaa ifii irraa duubatti deebi'isa dhabulle, Waaqi muraa sirri'ii isaaf kennee, akka bilisa isa baasuu fi akka duriititti akka isa deebisuuf Waaqa jabeessee gaafatiisa hin lakkinne.

Waaqi gaaffii Iyoobiitiif deebii tokko tokkoon kennuu dhabulle, dhugeeffanna'atti jabaatiisa isaa, hunnaa fi qarooma ifii ka adda te'een bifa wolaloo baaseffachiittuun deebii isaaf kenneera. Achiin duuba Iyoob, Waaqi gudda'aa fi qaroo akka te'e hubatee, sodaa male'ee fi dubbii mufi'itiin waan itti dubbateef gaabbee, araara galeera.

Dhuma irratti kutaan barreeffama karaa wolaloo hin te'iniin barreeffame, Iyoob akka duriititti akka deebi'ee fi karralle ta durii caala'aayyuu akka dhaggate hubachiisa. Jaaloti Iyoobii rakkoon isa dhaqqadde sababa maani-itiif akka teete waan hin beekiniif, Waaqi guddoo isaan xixeera. Yaada dhugeeffannaa aada'aatiin caalaa Waaqi guddaa akka te'e ka hubate Iyoob qofaayyu.

Haadhoo Dubbi'ii

Iyoob karra ifii, maatii ifitii fi fayyaa ifii dhabe **1:10–2:3**

Iyoob guyyaa dhalate abaare **3:1-26**

Marii qaraa **4:1–14:22**

Marii lammeesso'oo **15:1–21:34**

Marii sadeesso'oo **22:1–26:14**

Dubbii Iyoobii ta muumme'ee **27:1–30:31**

Iyoob balleessaa akka hin qanne mirkaneessee dubbate **31:1-40**

Dubbii Eliihuu **32:1–37:24**

Dubbii Mootii Waan Maraa ta qaraa **38:1–39:30**

Dubbii Mootii Waan Maraa ta lammeesso'ootii fi deebii Iyoobii **40:1–42:6**

Waaqi deebi'ee Iyoob fayyisee, karraa fi maatii isaa eebbise **42:7-17**

Seexanni Iyoob Ataabe

¹ Nami maqaan isaa «Iyoob» jedhamu ka lafa, «Uzi» jedhantu keessa le'uu tokko jiraayyu; inni nama komii hin qanne, qajeelaa, ka Waaqa sodaatuu fi ka waan hantuu irraa fagaate.

² Inni ilmaan torbaa fi ijoollee durraa sad,

³ hoolee kuma torba, gaala kuma sad, qotiyyoo ximmaadii dhibba shan, harree dhibba shanii fi tajaajiltoota hedduu qabaayyu. Worra gara aduun baatu jiru keessaa dureessi isa gewu hin jiruuyyu.

⁴ Ilmaan Iyoobii dabaree dabare'een mana mana ifiititti areerti'iif wol waamaniyyu; obboleeyyan durraa sadiin ta ifille waansisaa, isaan woliin nyaataa unaniyyu.

⁵ Guyyaan areerti'iif wol waamanu dabareen duuba, Iyoob, «Ijoolleen tiyya gadhaa ifii keessatti Waaqa yakkitee, isa arrassiteerti fa'a» jedhee waan yaaduuf, isaan qulqulleessiisaaf ganama ba'aa ka'ee akka laakkossa isaaniititti ciincaa dhikeessaayyu; inni waan kana yenna mara tolchaayyu.

⁶ Gaafa tokko ergantooti Waaqaa, Mootii Waan Maraa dura yenna dhikaatane, Seexannille isaan woliin dhikaate.

⁷ Mootiin Waan Maraa, «Ati eessaa dhutte?» jedhee, Seexana gaafate.

Seexanni deebisee, «Lafa irra asii fi achi, olii fi gad deddeebi'aa ture» jedhe.

⁸ Mootiin Waan Maraa Seexanaan, «Tajaajilaa kiyya Iyoob hubattee? Biyya lafaa irra nami akka isaa tokkolle hin jiru; inni nama komii hin qanne, nama qajeelaa, nama ana Waaqa sodaatuu fi hantuu irraa ka fagaate» jedhe.

⁹ Seexanni deebisee, «Iyoob sababa malee si Waaqa sodaataa ree?

¹⁰ Ati isaa fi maatii isaa, waan inni qabu duudi'itti dalleya marsitee ijaartee, hujii isaa duudii eebbittee, horii isaalle waan horsiitteenfi motii ree?

¹¹ Me harka keeti diriirsiitii waan inni qabu mara balleessi; inni iluma teeti duratti si hin abaara» jedhe.

¹² Mootiin Waan Maraa Seexanaan, «Guddoo dansa'a; Iyoob quballe'een hin tuqin malee, waan inni qabu mara akka feete godhuu dandeetta» jedhe.

Achiin duuba Seexanni Mootii Waan Maraa duraa bayee deeme.

Dhuma Ijoollee Iyoobiitii fi Badii Karra Isaa

¹³ Gaafa tokko ilmaan Iyoobiitii fi ijoolleen durraa ta isaa mana obboleessa angaficha ifiititti nyaataa, daadhii woyni'ii uniisatti adoo jiranuu,

¹⁴ nami ergame tokko gara Iyoobii dhufee, «Nuuti qotiiyyoon qotiisatti jirruun, harreeleelle kaloo nu biraa dheediisatti jirtuun,

¹⁵ dedhuma namooti Sheeba'aa isaan lolanee, tajaajiltoota shallaaga'aan ijeesanee, horii dannabane deemane; na qofattuu jalaa bayee, tana sitti himiisaaf dhufe» jedhe.

¹⁶ Adoo ergamaan sun dubbatiisatti jiruu, ergamaan dhibiin dhufee, «Mandiisuun buutee hoole'ee fi tajaajiltoota teeti fixxe; na qofattuu jalaa bayee, tana sitti himiisaaf dhufe» jedhe.

¹⁷ Inniin kunille adoo dubbatiisatti jiruu, ergamaan dhibiin dhufee, «Worri Kaldootaa addee saditti qoodamee, dedhuma nu lolee, gaala duudii fudhatee deeme; tajaajiltootalle shallaaga'aan ijeese; na qofattuu jalaa bayee, tana sitti himiisaaf dhufe» jedhe.

¹⁸ Ergamaan kunille adoo dubbatiisatti jiruu, ergamaan dhibiin dhufee, «Ilmaan teetii fi ijoolleen durraa teeti mana obboleessa angafichaattitti nyaataa, daadhii woyni'ii uniisatti jirtuun,

¹⁹ dedhuma hobonbolattiin goomolee irraa dhuttee, roga manaa arfanuu dhoottee, manni isaan irratti jigee dhumatane; na qofattuu jalaa bayee, tana sitti himiisaaf dhufe» jedhe.

²⁰ Achiin duuba Iyoob ol ka'ee gaddaan woyaa ifii tarsaasee, mataa haadatee, lafatti gad gombifamee sagadee,

²¹ «Ani qullaa gadhaa haadha tiyyaatii dhaladhe. Yoo du'ulle qullaa tiyya deebi'ee deema. Mootiin Waan Maraa kenne; inninuu fudhate. Maqaan isaa leellifamuu ti!» jedhe.

²² Tana duudii keessatti Iyoob cubbuu hin hunye; Waaqa irralle'etti hantuu hin dubbanne.

2

Seexanni Ammalle Iyoob Ataabe

¹ Gaafa dhibiille ergantooti Waaqaa, Mootii Waan Maraa duratti yennaa dhikaatane, Seexannille isaan woliin dhikaate.

² Mootiin Waan Maraa, Seexanaan, «Ati eessaa dhutte?» jedhee gaafate. Seexanni deebisee, «Lafa irra asii fi achi, olii fi gad deddeebi'aa ture» jedhe.

³ Mootiin Waan Maraa Seexanaan, «Tajaajilaa kiyya Iyoob hubattee? Biyya lafa irra nami akka isaa tokkolle hin jiru; inni nama komii hin qanne, nama qajeelaa, nama ana Waaqa sodaatuu fi hantuu irraa ka fagaate. Ati akka ani sababa malee isa irratti ka'ee, isa balleessuuf na kakkaatteerta; inni ammoo haga ammaalle addatamummaa ifi eegateera» jedhe.

⁴ Seexanni deebisee Mootii Waan Maraatiin, «Inni fayya'a, gogaan isaatuu hin tuqanne; nami fayyaa ifitiif, waan qabu mara hin kenna.

⁵ Me amma, harka keeti diriirsiitii lafee isaatii fi foon isaa miidhi; inni fuula duratti si abaara» jedhe.

⁶ Maarre Mootiin Waan Maraa Seexanaan, «Guddoo dansa'a, lubbuu isaa hin ijjeesin malee, akka feete isa godhuu dandetta» jedhe.

⁷ Achiin duuba Seexanni fuula Mootii Waan Maraa duraa bayee deemee, faana miilaa irraa haga gubbaa mata'aatitti madaa hantuu Iyoobitti buuse.

⁸ Achiin duuba Iyoob ifi hooqatiisaaf bassoo fudhatee, daadhaa keessaa tee'e.

⁹ Niitiin isaa, «Ati ammalle addatamummaa teeti qabattee jirtaa? Waaqa abaariitii du'i!» jette.

¹⁰ Iyoob ammoo isi'iin, «Ati akkuma dubartiin gowwaan dubbattu dub-bataarta; Waaqi waan dansaa yennaa nuu kennu gammadaan fudhanna; hantuulle hin fudhannuu ree?» jedhe; tana duudii keessatti Iyoob cubbuu hin hunye; hantuulle hin dubbanne.

Jaalota Iyoobii

¹¹ Jaaloti Iyoobii sadiin, Eliifaaz nami qachaa Temaani, Beldaad nami lafa Shu'aahiitii fi Zofaariin nami lafa Naa'ima waan hamaa Iyoob irra geye kana yennaa dhage'ane, isa woliin gaddisaa fi isa jajjabeessiisaaf, wolii galanee addee jiranu irraa gara isaa dhufane.

¹² Isaan fago'otti Iyoob yennaa dhaggane, isa te'uu isaa hubatuu hin dandeenne; eega hubataneen duuba gaddanee woyaa ifi tatarsaasane, bukuu mataa ifi irra gara ol-gubba'aa bittinneessanee, qoonqoo guddoon bowane.

¹³ Isaan guyyaa torbaa fi halkan torba isa woliin lafa irraa tee'ane; rakkoon isaa guddoo akka teete waan dhagganeef, isaan keessaa nami tokkolle wo isatti hin dubbanne.

3

Iyoob Guyyaa Itti Dhalate Abaare

¹ Tanaan duuba Iyoob dubbatiisa jalqabe; inni guyyaa itti dhalate abaaree,

²⁻³ «Halkan ani itti dadame,
guyyaan ani itti dhaladhelle
ka abaarame te'uu ti!

⁴ Guyyaan sun gara dukkanaa jijjiiramuu ti.
Waaqi ol-gubba'aa isa hin yaadatin;
ifille isa irratti hin ifin.

⁵ Dimimmisaa fi dukkanti dimmi,
«Ati keenna» isaan jedhanuu ti.
Duumensi isa irratti bu'ee,

- dukkanti ifa isaa gollituu ti.
- ⁶ Halkan san dukkanti dimmi gollituu ti;
guyyoota wogga'aa keessatti hin laakkowamin;
laakkossa ji'aalle'etti hin galin.
- ⁷ Halkan sun maseena te'uu ti;
ililleettiille hin dhage'amin.
- ⁸ Worri guyyaa abaaru,
bineensa naacha fakkaatu
ka, «Lewaataan» jedhamu kakkaasiisaaf qophowelle
halkan san abaaru ti.
- ⁹ Bakkalchi bari'ii ka halkan sanii dukkanootuu ti.
Halkan sun addi'iin ifa eegatuu ti,
ammoo hin dhaggatin;
boruulle hin dayya'iniif.
- ¹⁰ Guyyaan sun rakkinna ila tiyya duraa dhossiisaaf,
balbala gadaamessa haadha tiyyaa,
waan hin cufiniif ka abaarame te'uu ti.
- ¹¹ «Ani maaf gadaamessa haadha tiyyaa keessatti hin du'in?
Gadaamessa keessaa yenna bayelle
maaf hin badin?
- ¹² Haati tiyya maaf gudeeda ifii irra keyatte?
Harma ifille maaf na hoositte?
- ¹³ Sila amma nageyaan irkadhee,
rafee hin foorfadhaayyu.
- ¹⁴ Moototaa fi gorsitoota lafaa
worra addee ifiif ijaarratanee
isaan duraa diigante woliin,
¹⁵ sooreyyii gugurdoo worra worqi'ii fi meeti'iin
mana ifii guutatane woliin sila hin foorfadhaayyu.
- ¹⁶ Yookiin ani maaf
akka finna du'ee dhalatee awwaalamee,
ka ijjumaa ifa hin dhagginii hin te'in?
- ¹⁷ Awwaala keessatti worri hamaan
hammeenna ifii hin lakkisa;
ka dadhabanelle achitti hin foorfatan.
- ¹⁸ Worri booji'ame
achitti nageya dhaggatan;
qoonqoo worra hunnaan isaan hujisiisuulle hin dhage'anuu.
- ¹⁹ «Worri didiqqa'aa fi gugurdaan
addee takka'atti dhaggaman.
Garbootille goottota ifii jalaa
achitti bilisa hin bayan.
- ²⁰ Worra rakkoo hantuu keessa jiruuf ifi,
worra le'iin itti hadhootteef
jiruun maaf kennanti?
- ²¹ Worra du'a halchee,
ka karra dhoffante qotee barbaadu caalaa
ka du'a barbaaduuf
jiruun maaf kennantii?
- ²² Worra awwaala bira yenna gewu ilillisuuf
jiruun maaf kennanti?
- ²³ Nama karaan duraa dhoffameef,

- ka Waaqi karaa itti cufeef,
 ifi maaf kennamaaf?
²⁴ Gaddi kiyya akkuma sagale'ee naaf dhufa;
 aadiis kiyya akkuma bisaanii dhangala'a.
²⁵ Wonni ani sodaadhe natti dhutte;
 wonni na naasiselle na irratti te'e.
²⁶ Ani raafama malee
 nageyaa hin qabu, miira hin qabu,
 fooralle hin qabu» jedhe.

4

Eliifaaz Iyoobitti Dubbate

- ¹ Achiin duuba Eliifaaziin nami qachaa Temaanii deebisee,
² «Iyoob, yoo nami si woliin dubbatiisaaf sitti game
 hin ossattuu ree?
 Ammoo eentu dubbatuu lakkisaa ree?
³ Ati namoota hedduu barsiitteerta;
 worra dadhabaa harka qaddee jajjabeessiteerta.
⁴ Dubbiin teeti worra jigu utuddeerti;
 worra jilbi isaanii laafelle jabeessiteerta.
⁵ Amma ammoo rakkoon sitti dhuttee,
 addii kutatteerta;
 waan sitti jabaattelle'eef,
 jajjabeenna dhaddeerta.
⁶ Waaqa sodaatiis keeti,
 isatti addatiisa keeti
 qajeelummaan teetille
 addii teetii motiyyuu ree?
⁷ «Me yaadadhu:
 nami balleessaa hin qanne,
 yookiin nami balchaan badee beekaa ree?
⁸ Akka ani dhaggetti
 worri waan hantuu qotuu fi
 rakkinna facaasu
 waanuma san haammata.
⁹ Isaan hafuura Waaqi isaanitti baafatuun
 hin badan;
 qilleensa aarii isaatile'een hin dhumatan.
¹⁰ Worri hamaan akka neenqaa dhangaa dhowa;
 qoonqoolle ol qabatee iyya;
 Waaqi ammoo
 ilkaan isaanii hin caccassa.
¹¹ Akkuma neenqa waan adansee nyaatu dhabee du'uu
 isaanille hin du'an.
 Akkuma ilmeen neenqa dhala'aa bittinnoottu,
 ijoolleen isaanille hin bittinnootti.
¹² «Gaafa tokko ergaan takka gara kiyya dhuttee,
 gurri kiyyalle hasaassaa san dhage'e.
¹³ Halkan yennaa kolbaan hirriiba hamaa keessa jirtu,
 ani mudhii na sodaachittu dhaggee,
¹⁴ sodaadhee bararaqee,
 lafeen tiyya duudiin hollatte.

- 15 Qilleensi fuula na dhowee,
nafi kiyya suugajjaye.
- 16 Achitti wonni takka dhaabbattuun dhagge;
ammoo maan akka teete beekuu hin dandeenne.
Achiin duuba cadheessa keessa,
goonqoo takka:
- 17 «Waaqa caalaa nami balchaa te'uu dande'aa?
Yookiin ka isa dade duratti
qulqulluu te'uu dande'aa?
- 18 Waaqi tajaajiltoota ifituu
ka hin addanne eega teete,
ergantoota ifii ta ol-gubba'aa irralle'etti dokonkora ka dhaggu eega teete,
19 worra mana biyyee faaraa irraa hujamee,
ta hundeen isaa biyyee keessa jirtu
ka adoo qu'een hin nyaatin caccabu keessa le'anutti
attam addata ree?
- 20 Isaan ganamaa haga galgalaatitti hin badan;
adoo nami itti hin yaadatin
haga bara baraa hin badan.
- 21 Isaan akka dongoraa dunkaani'ii ka buqa'uu,
qarooma malee hin du'an jettu dhage'e.

5

- 1 «Iyoob! Nama deebii siif kennu
yoo dhaggatte waami;
woyyoota* keessaa
gara kamii ilaalta?
- 2 Nama gowwaa aari'ittuu ijjeesa;
wollaalaalle gaabbi'ittuu ijjeesa.
- 3 Gowwaan hidda naqatuun dhaggeera;
ammoo dedhuma manni isaa abaarame†.
- 4 Ijoolleen isaa ijumaa nageya hin dhaggattu;
badhinna dalleya keessaa keessatti
miidhaan isaan irra hin geetti,
nami isaan baasulle hin jiraatu.
- 5 Worri beelowe
midhaan isaa hin nyaata;
ka qoree keessatti latelle hin lakkisanuuf.
Worri dheebote
qabeenna isaa hin saama.
- 6 Rakkoon biyyee keessaa ol hin baatu;
gaargalli lafa irraa hin latu.
- 7 Akkuma qaanqeen ibiddaa ol facaatu,
nami rakkinnaaf dhalata.
- 8 «Adoo na te'e
Waaqa hin barbaadadha,
rakkoo tiyyalle isatti hin himadha.
- 9 Inni waan gugurda'aa hin qorqoranne
bilbaasa laakkowanee hin dandeennelle hin godha.
- 10 Inni lafa irratti bokkeya hin roobisiisa;

* 5:1 Woyyoota: Isaan kun ergantoota Waaqaa ti. † 5:3 Abaarama: Yookiin diigame.

- fichaalle bisaan hin obaasa.
- 11 Worra gad qabame
addee ulfinnaa hin keya;
worra gadde addee nageyaatitti ol hin fuudha.
- 12 Worri maltooleen waan hujanu
akka hin muummessineef,
inni karoora isaanii hin gufachiisa.
- 13 Inni garolee maltummaa isaaniitiinuu qaba;
mala maltoole'eelle hin balleessa.
- 14 Guyyaan isaanitti dukkanowee,
akka halkaniititti
saafowaan qaqgabataa deemanuu ti.
- 15 Worra hiyyeeyyii
afaan shallaagaa diina isaanii jalaa,
harka worra isaan cunqursuu jalalle'ee hin baasa.
- 16 Inni hiyyeeyyi'iif addii hin kenna,
afaan worra hama'aa hin cufa.
- 17 «Nami Waaqi xixu ka gammade!
Tanaaf xixicha Waaqa
waan mara dande'uu hin tuffatin.
- 18 Waaqi hin madeessa
ammoo deebisee hin hodha;
inni si hin miidha
harka ifitiin ammoo si hin fayyisa.
- 19 Inni balaa jaa jalaa si hin baasa;
torbeessoo irralle'etti miidham si hin tuqu.
- 20 Bara beelaa du'a irraa,
lola keessatti shallaagaa irraa si hin woda.
- 21 Waaqi arraba hamaa irraa si hin eega;
yoo badiin sitti dhuttelle hin sodaattu.
- 22 Badi'ii fi beelatti hin kollita;
bineensalle hin sodaattu.
- 23 Fichaa qotattutti dhakaan si hin rakkisu;
bineensotille si woliin nageya hin qabaatan.
- 24 Dunkaaniin teeti nageyaan akka jirtu hin beetta;
yennaa hoolee teeti toowattu
nageyaan isaan hin dhaggita.
- 25 Sanyiin teeti hedduu,
ijoolleen teetille
akka marra lafaa akka teetu hin beetta.
- 26 Akkuma qamadiin yennaa ifiititti
wolitti qabantu
atile dulloontee, geettee hin duuta.
- 27 «Kunoo, nuuti tana duudii qorqorreerra;
tun dhuga'a;
atile dhage'iitii beeki» jedhe.

6

Iyob Deebii Kenne

- 1 Achiin duuba Iyob deebisee,
2 «Farri tiyya adoo madaalantee,

- gaargalli kiyya duudiin
madaallii irra adoo keyamee jiraatee,
³ maansa irga abbaaya'aa caalaa ulfaataayyu;
tanaaf jarjariisaan dubbatiis kiyya
si hin baaseffachiittu.
- ⁴ Waaqi waan mara dande'u
daaya ifitiin na woraanee,
hadhaan isaalle
nafa keessa na faca'eera.
Bararaqiisi Waaqaa na marseera.
- ⁵ Harreen diidaa yennaa marra dheeddu,
Yookiin qotiyyoon yennaa okeya nyaattu
hin baroodii ree?
- ⁶ Sagalee hin mi'oonne
soodda malee nyaatanii ree?
Yookiin bisaan quupha'aa
hin mi'owaa ree?
- ⁷ Ani sagalee akkasii tuqiisalle hin jibba;
yoo nyaadhelle akka dhibamu na gooti.
- ⁸ «Maaloo waan gaafadhe
adoo dhaggadhee,
Waaqi halchaa tiyya
adoo naaf guutee!
- ⁹ Fedha isaa teetee adoo na caccassee,
harka ifii diriirsee adoo na balleessee,
¹⁰ tun silaa naaf jajjabeenna.
Ani jecha Waaqa woyyichaa
waan hin mormatiniif,
dhibeen natti fakkantulle
ani silaa gammadaan hin utaalaayyu.
- ¹¹ «Jiru'uun le'iisaaf
jabeenna maan qaba ree?
Eega addii hin qabaatinii
maaf le'a ree?
- ¹² Jabeenni kiyya jabeenna dhaka'aatii ree?
Foon kiyya sageettu'uu ree?
- ¹³ Dhugumaan ifi qarqaariisaaf hunna hin qabu;
hunni tiyya duudiin na irraa fudhatanteerti.
- ¹⁴ «Nami jaala ifii ka rakkatteef marartii dhabu,
Waaqa waan mara dande'u sodaatiisa lakkiseera.
- ¹⁵ Isin obboleeyyan tiyya ammoo,
akka laga yennaa roobi hin jirree goguu
na soddane.
- ¹⁶ Lagi sun ji'a gannaa
dhakaa roobaatiin guutama.
- ¹⁷ Yennaa o'aa ammoo lagi sun hin dhabama;
yennaa bonaa hin goga.
- ¹⁸ Daldalooti bisaan barbaadata karaa irraa miliqanee,
goomolee keessa daaqaa badan.
- ¹⁹ Daldalooti Teema'aa
bisaan hin barbaadatan;

- daldaltooti Sheebaalle bisaan
dhaggatiisaaf addii godhatan.
- 20 Lagi isaan addatanu waan gogeef
addii hin kutatan;
addee san yennaa geyanu
hin bilinjoyan.
- 21 Isinille akkuma laga goge sanii
natti teetane;
farra tiyya dhaggitanee sodaattane.
- 22 Ani «Woy naaf kenna'a!
Karra teessaniin na woda'a!
23 Yookiin harka diinaa jalaa na baasa'a;
yookiin harka worra na cunqursuu jalaa
na woda'a!» jedheeraa?
- 24 «Ani hin cadhisa,
isin na barsiisa'a;
dokonkora kiyyalle natti hima'a.
- 25 Dubbiin dhuga'aa
attam attam hunnaametti'i!
Komiin teessan ammoo bu'aa hin qaddu.
- 26 Isin dubbii tiyya
sirreessuu barbaaddanii?
Dubbii ana nama addii kutateelle
akka qilleensaatitti laakkottanii ree?
- 27 Ijoollee haadhaa fi abbaa hin qanne irratti,
hixaa buufattan;
jaalota teessanille gurguriisaaf gadhassiittan.
- 28 «Amma ammoo, maganne'ee gara kiyya ilaala'a!
Ani fuula keessan duratti dhara hin dubbadhaa?
- 29 Deebi'a'a; worra muraa dharaa muru hin te'ina'a;
ammalle deebi'a'a;
ani dhugaa irra jira.
- 30 Arraba kiyya irra dokonkorri hin jiraa?
afaan kiyya waan hantuu
addaan baasuu hin dande'uu ree?

7

- 1 «Nami elo'oon lafa irra jiraataa motii?
Barri isaalle akka bara
nama qaxaramee hujuutii motii ree?
- 2 Akka garboolee gaaddisa jala foorfatiisa barbaadanuutii fi
akka hojjatoota mindaa ifii eegatanuutii mootii?
- 3 Ji'ooti elo'oo naaf ka bu'aa hin qanne te'ane;
halkan farraalle
naaf kennamane.
- 4 Yennaa rafu «Yoom dammaqa?» jedhaa,
halkan natti dheeratee,
haga bariitutti asii fi achi
gara gaggala.
- 5 Nafi kiyya duudiin
corroqoyee qonyonyaayeera;
babbaqaqeelle maloweera.

- 6 «Barri kiyya mooqaa harfa'aa*
caalaa ariifata;
addii maleelle dhumata.
- 7 Ee Waaqa, jiruun tiyya akka hafuura baafatiisaa fi fudhatiisaa ti;
ilti tiyya deebitee waan dansaa hin dhaggitu.
- 8 Ilti amma na dhaggitu,
deebitee na hin dhaggitu;
ati na hin barbaadda ani ammoo hin jiru.
- 9 Akkuma duumensi bittinnowee badu,
nami du'ee awwaalamu deebi'ee hin ka'u.
- 10 Lammoo gara mana ifii hin deebi'u;
worri isa beeku duudiin isa hin dedha.
- 11 «Tanaaf ani hin cadhisu;
laalaa ayyaana kiyyaa hin dubbadha;
hadhaa lubbuu tiyyaa irraa ta kaate hin gunguma.
- 12 Ati akka na eeganuuf ka goote,
ani abbaaya'a moo bineensa guddaa abbaaya'aa ti?
- 13 Taqueen tiyya na jajjabeessiti;
addeen ani rafu dhibee tiyya irraa goonsiti
yennaa jedhu,
14 ati ammoo oojju'uun na sodaachitta;
mudhille'een na bararassita.
- 15 Jiruu farraa tanaa mannaa
suruurraa ifitti dhowee
du'u naaf woyya.
- 16 Ani jiruu tiyya jibbeera;
haga bara baraa le'iisa hin barbaadu;
barri jiruu tiyyaa gabaabaa† waan te'eef
na lakkis.
- 17 «Akka nama barbaachisaa te'e tokkootitti akka isa ilaaltuuf,
akka guddoo isa yaadattuufille nami maan inni?
- 18 Ati ganama ganama isa hin ilaalta;
yennaa mara isa hin qorqorta.
- 19 Haguma hancufa liqinsu
ila ana irra hin deebifattuu?
- 20 Waaqa namoota eeddu,
ani yoo cubbuu huje maan si godhe?
Maaf waan itti xiyyeeffattu na godhatte?
Ani hagana mara ba'aa sitti te'ee?
- 21 Ati maaf balleessaa tiyya naaf hin araaramin?
Maaf yakkaa tiyya ana irraa hin balleessin?
Ani amma waan awwaalamuuf,
ati na hin barbaadda,
ani ammoo hin jiru» jedhe.

8

Biildaad

- 1 Achiin duuba Biildaad nami biyya Shu'aa deebisee,
2 «Haga yoomii dubbii akkasii dubbatta?

* 7:6 *Mooqaa harfa'aa*: Mooqaan harfa'aa kun ka worri woyaa dhowu suqaa keessa keyee gamaa fi gamanatti qolaanfatu. † 7:16 *Gabaabaa*: Afaan Ibrootaatiin *baafata hafuura tokko* jedha.

- Dubbiin afaan keetii baatu
akka qilleensaa ti.
- ³ Waaqi muraa hin dassaa?
Yookiin Waaqi waan mara dande'u
dhugaa hin dassaa?
- ⁴ Ijoolleen teeti yoo Waaqa yakkitee jiraattee,
inni adabbii cubbuu isaaniitiif
dabarsee isaan kenne.
- ⁵ Ati ammoo yoo Waaqa barbaaddee,
Waaqa waan mara dande'ulle yoo gaafatte,
⁶ ati qullu'uu fi qajeelaa yoo teete,
inni dhugumaan si qarqaariisaaf hin ka'a;
gara addee teetii
ta si'iif maltetti si hin deebisa.
- ⁷ Jalqabi keeti diqqaa te'ulle,
muummee irratti hin banqaaxxa.
- ⁸ «Me dhaloota durii gaafadhu
waan abbootiin isaanii qorqoranee dhagganelle qalbeeffadhu.
- ⁹ Nuuti kalee waan dhalanneef,
womaalle hin beennu.
Barri keenaa ka biyya lafaa irraalle
akka gaaddisaa dabara.
- ¹⁰ Wonni isaan si barsiisanuu fi sitti himanu
waan hubataneeraanuu motii ree?
- ¹¹ Allaaduun addee caffaan hin jirretti
latuu dandeettii ree?
Addee bisaan hin jirretti
shonboogqoon hin banqaaxxii ree?
- ¹² Adoo kichu'uutuu
adoo hin muramin
biqiltoota dhibi'iin dura hin qooran.
- ¹³ Worri Waaqa dedhu duudiin
akkasuma;
addiin nama Waaqa malee le'uu hin baddi.
- ¹⁴ Inni waan akka kaso'otti citutti addata;
addiin isaalle mana saaphuphu'uu* ti.
- ¹⁵ Nami tokko mana saaphuphu'uutitti
yoo irkate, manni sun hin dhaabbatu.
Inni mana san yoo qabate,
isa duraa hin cita.
- ¹⁶ Nami hamaan akka biqiltuu aduu keessatti dagaagu ti;
dameen isaa oorruu gubbaa babadhata.
- ¹⁷ Hiddi isaa tuulaa dhaka'aatitti marata;
odduu rassa'aa keessalle karaa barbaadata.
- ¹⁸ Nami tokko addee isaa irraa yoo isa buqqise,
addeen sun,
«Ani si dhaggee hin beeku»
jettee isa hin mormatti.
- ¹⁹ Kunoo, gammadi jiruu hidda sanii kanuma;
biqiltuun dhibiin lafa san keessaa hin latan.

* **8:14** *Saaphuphuu*: Worri tokko tokko baatti-baarree jedhan.

- 20 «Waaqi worra komii hin qanne hin gatu;
yookiin worra hantuu huju hin qarqaaru.
21 Inni akka ati kollituu fi
ilillittu si hin godha.
22 Worri si jibbu qaanii uffata;
dunkaaniin worra hama'aa hin baddi» jedhe.

9

Iyoob

- 1 Achiin duuba Iyoob deebisee,
2 «Dhuguma tun dhugaa
akka teete hin beeka.
Ammoo nami attam Waaqa duratti
balchaa te'uu dande'a ree?
3 Nami tokko Waaqaan falmuu
yoo barbaade,
gaaffii kuma keessaa takkattiille
deebisee hin dande'u.
4 Waaqi qaro'o; hunnaamessalle'e;
ka isa moromee,
hin injifatamin eennuu?
5 Inni dedhuma gaara tatachoosee,
aarii ifitiin isaan hin balleessa.
6 Waaqi lafa addee isi'ii irraa hin tachoosa;
utuboota lafaalle hin raasa.
7 Inni aduun akka hin baane hin ajaja;
urjootille ifa akka hin kennine hin dhoogga.
8 Inni qofuu ol-gubbaa diriirse;
danbalii bisaanii irralla hin ideema.
9 Tuuta urjootaa ka bineensa, «Doobbaa*» jedhamu fakkaatu,
tuuta urjootaa ka, «Sadee†» jedhamu,
tuuta urjootaa ka, «Torpii‡» jedhamuu fi
tuuta urjoota gara kibbaalle isatti dade.
10 Waan maade'ee ta qorqorannee bira hin geenne,
bilbaasota laakkonnee hin dhaqqanne hin godha.
11 Yennaa inni na biraan dabaru,
ani isa hin dhaggu;
yennaa inni cinaa tiyya ideemu,
ani isa hin hubadhu.
12 Yoo inni butee ideeme,
eentu isa dhoogga?
Eentu isaan, «Ati maan godhiisatti jirta?» jedha.
13 Waaqi mufii ifii duubatti hin deebisu;
worri bineensa guddaa abbaayaa keessaa
ka, «Rahaab» jedhamu qarqaaruuyyuu isaaf hin sagadan.
14 «Ani attam
deebii isaaf kennuu dande'a ree?
Ani isa waliin falmiisaaf,
attamiin jechoota filatuu dande'a ree?
15 Ani yakkaa qabaatuu yoo dhabelle,

* 9:9 Doobbaa: Bineensa Iyyaa fakkaatu. † 9:9 Sadee: Hiikkaan gariin Ooriyoon jedhan. ‡ 9:9 Torpii: Hiikkaan gariin Piliyaadis jedhan.

- abbaa mura'aa kiyya
 akka naaf mararu gaafadha malee,
 deebii isaaf kennuu hin dande'u.
 16 Ani maqaa isaa waammadhee
 inni naaf yoo deebiselle,
 akka inni qoonqoo tiyya dhage'u hin dhugeeffadhu.
 17 Inni bubbe'een na butucha;
 sababa malee madaa natti baceessa.
 18 Inni hadha'aan na guuta malee,
 hafuura na hin fudhachiisu.
 19 Marroo jabeennaa yoo teete,
 inni jaba'a.
 Marroo mura'aa yoo teete,
 gara addee mura'aa san
 ka isa waamuu dande'u eennu?
 20 Ani yakkaa qabaatuu dhabulle
 afaan kiyyaayyuu natti mura;
 ani ka komii hin qanne te'ulle,
 «Daba'a» anaan jedha.
 21 «Ani ka komii hin qanne te'ulle
 marroo mataa kiyyaa hin beeku;
 jiruu tiyyalle hin jibba.
 22 Martinuu tokkuma;
 tanaaf ani, «Waaqi worra komii hin qannee fi
 worra hamaaleyyii hin balleessa» jedhe.
 23 Yennaa balaan nama yakkaa hin qanne
 dedhuma ijjeesu
 Waaqi isatti hin qacifata.
 24 Yennaa latti harka
 worra hamaaleyyi'iititti kennantu,
 Waaqi ila abbootii mura'aa
 ta lafa sanii hin golla.
 Isa yoo hin te'in,
 tana ka godhe eennu ree?
 25 «Barri kiyya nama rukkiisu caalaa ariifata;
 adoo waan dansaa hin dhagginuu dabara.
 26 Akka hoboloo ariifattu'uu\$,
 akka risaa waan nyaatu butatiisaaf irii gad xinniquu dabara.
 27 Ani, «Gungunsuu tiyya hin dedha;
 nyaara guuruu lakkisee,
 hin seeqadha» yoo jedhe,
 28 akka nama yakkaa hin qanneetitti
 akka ati na hin ilaalle
 waan beekuuf
 farra tiyya duudii hin sodaadha.
 29 Yakkaan eega natti murantu teete,
 maaf toluma dadhaba ree?
 30 Nafa kiyya saamunaan,
 harka kiyya haraanja'aan

§ 9:26 Akka hoboloo ariifattu'uu: Hoboloon allaaduu irraa hujante waan ariifattuuf, hiikkaan gariin
 akka hoboloo allaadu'uu jedhan.

yoo dhiqadhelle,
³¹ ati boolla haraa itti gatanu keessatti
 na gatta;
 woyaan tiyyaayyuu na jibbiti.

- ³² «Ani isa waliin
 gara kora mura'aa dhaqee
 deebii isaaf kenniisaaf,
 inni akka kiyya nama foon uffatee moti.
³³ Nami anaa fi Waaqa wolitti araarsiisaaf
 wodhakkaa teennatti murtee kennu
 adoo hin jiraatuu!
³⁴ Akka ani hin bararandheef,
 adoo Waaqi na adabuu dhabe,
³⁵ ani sodaa malee,
 silaa isa waliin hin dubbadhaayyu;
 amma ammoo dubbatuu hin dandeenne.

10

- ¹ «Ani jiruu tiyya jibbeera;
 tanaaf ittuma gungumaa,
 hadhaa lubbuu tiyyaa hin dubbadha.
² Ani Waaqaan,
 «Waan na loltuuf natti himi malee,
 natti hin murin!
³ Mala worra hamoole'ee fudhattee,
 hujii harka keetii tuffattee,
 na cunqursiisi si hin gammachiisaa?
⁴ Ati ila nama foonii qaddaa ree?
 Akkuma nami ilaalu ilaaltaa ree?
⁵ Guyyooti keeti akka guyyoota namaatii ree?
 Yookiin woggooti keeti akka woggoota namaatii ree?
⁶ Ati maaf yakkaa tiyya barbaaddee,
 cubbuu tiyya qorqorta?
⁷ Akka ani yakkaa hin qannee fi
 harka keeti keessaa nami na baasu
 akka hin jirre ati hin beetta.
- ⁸ ««Ka miidhassee na dade harka keeti;
 amma deebitee na balleessitaa?
⁹ Faara irraa akka na dadde qaabadhu;
 ammalle biyye'etti na deebisu'uufii ree?
¹⁰ Ati akka aananii na dhangalaattee,
 akka itittu'uu na hin itichinee ree?
¹¹ Goga'aa fi foon natti uffittee,
 lafe'ee fi ribu'uun wolitti qassiitte.
¹² Ati jiru'uu fi jaalala bara baraa keeti
 naaf kenniteerta;
 eeddoon teeti
 na jiraachitteerti.
¹³ Ati ada waan kana
 gadhaa keeti keessatti dhoffatteerta.
 Kun karoora keeti akka te'e
 ani hin beeka.

- 14 Ani yoo cubbuu huje
ati hin dhaggita;
yakkaa tiyyalle
adaddu malee hin lakkittu.
- 15 Hamaalessa yoo te'e,
naaf aanne'e!
Nama balchaa te'ulle
dande'ee mataa kiyya ol hin qabadhu.
Ani waan salphadheef
rakko'oon guutameera.
- 16 Yoo mataa kiyya ol qabadhe,
ati akka neenqaa na adansita.
- Na miidhiisaafille
itti deddeebitee hunna teeti sodaachittuu
natti mudhitta.
- 17 Ati dhugaa baatota haareya na irratti kaatta;
mufii teeti natti fakkansita;
loltoota haareya natti fidda.
- 18 «Waaqa kiyya, maaf akka ani dhaladhu na goote?
Ilti nama tokkoolle
adoo na hin dhaggin
adoo du'ee hin jiraadhuu!
- 19 Adoo dhalatiisa hin dhabuu!
Yookiin gadaamessa keessaa
gara awwaalaa adoo hin geeffamuu!
- 20 Barri jiruu tiyyaa gabaaba'aa motii?
Bara gabaabaa kana keessatti
diqqumalle akka gammadu na lakkis.
- 21 Ani gara lafa deebi'anee hin gallee,
lafa dimimmisaatii fi dukkana dimmaa,
22 gara lafa dukkana dimmaa
gara lafa gaaddisa du'aa
gara lafa nageya hin qannee,
addee ifi akka dukkanaa te'e
adoo hin dhaqin
diqqumalle akka gammadu na lakkis» hin jedha» jedhe.

11

Zofaar

- 1 Achiin duuba Naa'imaatichi Zofaar deebisee,
2 «Dubbii hedduu tanaaf deebiin hin kennantuu ree?
Nami dubbatticha te'eef dhugaa dhaggataa ree?
- 3 Iyoob, dharti teeti nama cadhisiittii ree?
Yennaa ati murgitulle
nami si xixu hin jiru seetaa?
- 4 Ati Waaqaan, «Barsiisi kiyya sirri'i;
fuula Waaqaa duralle'etti
ani qulqullu'u» jetta.
- 5 Ammoo adoo Waaqi afaan ifii saaqatee,
sitti dubbate,
6 karaan qarumma'aa hedduu waan te'eef,
dhossaa qarumma'aa adoo sitti mudhise,

haga si'iif maltee gad
akka inni si adabe hin beettaayyu.

- ⁷ «Gad fageenna dhossaa Waaqaa
qorqortee beekuu dandeettaa?
Waaqa waan mara dande'u
qorqortee bira gewuu dandeettaa?
- ⁸ Guddinni isaa ol-gubbaa caalaa ol fagaata.
Ati maan godhuu dandeetta ree?
Gad fageenni isaalle qilee caalaa gad fagaata.
Ati maan beekuu dandeetta ree?
- ⁹ Guddinni Waaqaa lafa caalaa dheerata;
abbaayaa caalaalle badhata.
- ¹⁰ «Waaqi tana duudii irra dabaree dhufee,
mana hidha'aatitti si galchee
kora mura'aa sitti rare
eentu isa dhoogguu dande'a?
- ¹¹ Inni kolbaa woy hin baane hin beeka;
inni yennaa yakkaa isaanii dhaggu
cadhisee hin ilaalaa?
- ¹² Yoo harreen diidaa nama dhalte qofa
nami gowwaan qaroo te'uu dande'a.
- ¹³ «Ati gadhaa keeti yoo qajeelfatte,
harka keeti gara Waaqaa yoo badhifatte,
¹⁴ yakkaa harka keeti keessa jirtu
ifi irraa yoo fageessitee,
wonni hantuun dunkaana keeti keessaa
akka hin jiraanne yoo goote,
¹⁵ yennaa san dhugumaan qaanii malee,
mataa keeti ol hin qabatta;
sodaa maleelle jabaattee hin dhaabbatta.
- ¹⁶ Achiin duuba rakkoo teeti duudii hin deeta;
akka lolaa yaa'ee dabaree qofa isii qaabatta.
- ¹⁷ Jiruun teeti ifa saafowaa caalaa hin itti;
dukkantille akka ganamaa hin teeti.
- ¹⁸ Addiin waan jirtuuf atille addattee hin leeta;
Waaqi waan si eeguuf
sodaa malee fooraan hin leeta.
- ¹⁹ Eennulle adoo hin sodaatin hin ratta;
worri hedduun si duratti
fudhatama dhaggatiisa barbaadan.
- ²⁰ Ilti worra hama'aa ammoo hin jaamti;
karaa miliqanu hin dhaggatanu;
muummeen isaanii du'a» jedhe.

12

Iyoob

- ¹ Iyoob deebisee,
² «Dhuguma isin qaroole'ee motii ree!
Yennaa duutanulle
qarummaan isin woliin duutii motii ree!

- ³ Ani ammoo akkuma keessan
hubantii qaba;
ani isinii gadii moti;
waan akkasii kana
eentu wollaala ree?
- ⁴ «Waaqa daadimadhee
yennaan inni naaf deebise jirtiyyu;
amma ani waan jaaloti tiyya itti kollitu te'eera.
Ani nami balchaan komii hin qanne
waan nami duudiin itti kollu te'eera.
- ⁵ Worri itti tolte
rakkinna nama rakkatee tuffatiis kaso'o;
nama jigiisaaf tintimu hin darban.
- ⁶ Dunkaaniin worra saantotaa nageyaan jirti;
worri Waaqa tuttuqee aarsu,
worri Waaqa waan toowatu ifi seyu
nageyaan le'a.
- ⁷ «Me bineensota gaafadhu;
Isaan si barsiisan.
Sinbirrootalle gaafadhu
isaan sitti hin himan.
- ⁸ Yookiin lafa gaafadhu;
isiin si hin barsiitti;
yookiin qurxummiin abbaaya'aa
sitti hin hinti.
- ⁹ Harki Waaqaa akka isaan dade
isaan kana duudii keessaa
ka hin beenne eennu ree?
- ¹⁰ Jiruun waan duudi'iitii fi
hafuurri nama duudi'ii harka Waaqaa jiran.
- ¹¹ Akkuma arrabi sagalee addaan baasee beeku,
gurrille dubbii addaan hin baasa.
- ¹² Qarummaa maanguddootatti qabaa motii ree?
Hubantiille worra woggaa dheertuu
le'etti qabaa motii ree?
- ¹³ «Qarumma'aa fi hunni ta Waaqaa ti;
gorsaa fi hubantiille tama isaa ti.
- ¹⁴ Waan inni diige,
nami tokkolle deebisee ijaaruu hin dande'u.
Nama inni balbala itti cufe,
nami tokkolle banuu hin dande'u.
- ¹⁵ Yoo inni bokkeya dhooggate
oola'atti te'a;
yoo inni bokkeya gad lakkise,
lolaan lafa balleessa.
- ¹⁶ Jabeennii fi qarummaan ta isaa ti;
ka sobuu fi ka sobamulle
isaan lamaanuu baallii isaa jala jiran.
- ¹⁷ Inni gorsitoota mootichaa
miila duwwaa akka booji'amanu hin godha;
abbootii mura'aalle hin gowwoonsa.

- 18 Inni mootota
barcumaa mootumma'aa irraa buusee,
hidhantoota isaan godha.
- 19 Inni hayyoota irraa baallii isaanii mulqee,
worra hunnaameyyiille hin fonqolcha.
- 20 Worra addatame cadhi godha;
jaarsoleelle qarummaa hin dhoogga.
- 21 Inni gondaaltota hin salphisa;
hidhata worra jajjabaa hin hiika.
- 22 Inni dhossaa dukkana keessaa hin mudhisa;
dukkana dimma gara ifaa hin jijjiira.
- 23 Inni gosa biyya adda addaa
hunnaameyyii hin godha; hin balleessalle'e;
inni gosa biyya adda addaa hin baceessa;
hin bittinnessalle'e.
- 24 Inni sooreyyii irraa hubantii isaanii hin mulqa;
goomolee daandii hin qanne keessalle
hin joonjisiisa.
- 25 Isaan ifa malee,
dukkana keessa qaqqabataa akka ideemanu,
akka nama machoweelle
akka titimisanu hin godha.

13

- 1 «Kunoo, tana mara ilti tiyya dhaggiteerti;
gurri kiyyalle dhage'ee hubateera.
- 2 Waan isin beettanu anille hin beeka;
ani isinii gadii moti.
- 3 Ani ammoo
Waaqa waan mara dande'u waliin dubbadhee,
haajaa kiyya isa waliin falmuu fedha malee,
si waliinii moti.
- 4 Isin ammoo dharaan hallitan;
isin akka ogeeyyii
eenulle fayyisuu hin dandeennee ti.
- 5 Ani silaa adoo cadhittane fedha,
sun isiniif qarummaa hin teetiiyyu.
- 6 Amma falmata kiyya dhage'a'a;
iyyata afaan kiyyaalle caqasa'a.
- 7 Isin Waaqaaf jettanee dhara dubbattanii?
Isaaf jettanee soballe dubbattanii?
- 8 Isin isaaf rogaartanii ree?
Kora mura'aa duratti
haajaa Waaqaaf falmitanii ree?
- 9 Waaqi yoo isin qorqore
isiniif dansa'aa ree?
Yookiin akkuma nama soddanu
Waaqalle sobuu hin dandeettanii ree?
- 10 Isin dhossa'aan yoo roddane,
inni dhugumaan isin hin xixa.
- 11 Arinyi isaa isin hin bararassuu ree?
Ulfinni isaa isin hin sodaachisuu ree?
- 12 Mammaassi keessan
akka daadha'aa bu'aa hin qabu;

falmiin teessan akka faaraa caccaddi.

- 13 «Me na irraa cadhisa'a;
wonni feete natti dhuttuutii,
ani hin dubbadha.
- 14 Ani maaf ifi rakkisee
lubbuu tiyyalle harkatti qabadhee le'a?
- 15 Waaqi yoo na ijjeeselle,
ani isuma addadha;
dhugaa tiyyalle isuma duratti falmadha.
- 16 Worri Waaqa malee le'u
Waaqa dura dhikaatuu waan hin dandeenneef,
kun fayyinna kiyyaaf te'a fa'a.
- 17 Dubbii tiyya akka dansaa caqasa'aatii,
waan ani jedhulle
gurri keessan dhage'uu ti.
- 18 Ani dubbii tiyya akka dansaa
qopheeffadheera;
akka dhugaa dhaggadhulle hin beeka.
- 19 «Ka na himatu jiraa ree?
Yoo jiraate
ani adoo hin falmatin cadhisee hin du'a.
- 20 «Ee Waaqa!
Akka ani fuula keeti duraa hin dhokanneef,
waan lamaan kana qofa si gaafadha:
- 21 Na adabiisa lakkisi;
arnya keetille'een na hin bararassin.
- 22 Achiin duuba na waami,
anille hin owwaadha.
Yookiin ani hin dubbadha
ati deebii naaf kenni.
- 23 Yakkaan tiyyaa fi cubbuun tiyya
hagam heddatti?
Balleessaa tiyyaa fi cubbuu tiyya
natti himi.
- 24 Ati maaf fuula keeti na duraa dhoffattee,
akka diina keetiititti na laakkotta?
- 25 Ati akka baala qilleensi fuudhee ideemuu na sodaachisaa,
akka hicaacee goddu'uu na ariitaa?
- 26 Ati himannaa hadhoottuu
na irratti barreessite.
Gatii yakkaa bara ijoollummaa tiyyaalle,
akka dhaggadhu goote.
- 27 Ati miila kiyya jirma oddu'utti hiiteerta;
tarkaaffii tiyya duudii hin eedda;
faana miila kiyyaalle hin qorqorta.
- 28 «Tanaaf ani akka waan shamee,
akka woyaa qu'een* nyaattee hin bada.

* 13:28 Qu'een: Yookiin barbaaraan yookiin qooqqannaan yookiin biliin jedhamuu hin dande'a.

14

- 1 «Barri nama foon uffatee gabaaba'a;
sunuu rakko'oon ka guutame.
- 2 Inni akka daraara'aa mudhatee,
yoosuma hin qoora;
akka gaaddisaa adoo hin turin hin dabara.
- 3 Ati nama akkasii kana ilaaltaa ree?
Mura'aaf ifi duratti na dhikeessitaa ree?
- 4 Waan qulqulluu hin te'in keessaa,
waan qulqulluu baasuu ka dande'u eennu?
Nami tokkolle hin dande'u.
- 5 Barri namaa ka murtaye;
ji'i inni le'uulle si biratti ka laakkowame.
Bara ati isaaf murteessite irra
ka dabaru hin jiru.
- 6 Nami qaxaramee huju
hujii ifii yennaa fixu akkuma gammadu,
namille bara dadhabbii ifii keessa
akka gammadu ossiif.
- 7 «Muki yoo murame
deebi'ee waan latuu fi
damee waan baafatuuf addii qaba.
- 8 Hiddi isaa lafa keessatti dulloomulle,
jirmi isaalle biyyee keessatti gogulle,
9 foolee bisaaniitiin deebi'ee hin quunxa;
akka biqiltuu reef lattuulle
damee hin baafata.
- 10 Nami ammoo du'ee hin bada;
eega du'e deebi'ee hin dhaggamu.
- 11 Akkuma bisaan abbaayaa keessaa ol fiilee dhabamuutii fi
akka bisaan laga keessaa goguu,
12 akkasuma nami du'e
deebi'ee hin ka'u;
ol-gubbaan haga dabartutti hin dammaqu;
yookiin hirriiba irraa hin ka'u.
- 13 «Mufiin teeti haga dabartutti
addee worra du'eetitti adoo na dhossitee
guyyaa murteessitee
adoo na qaabatte hin fedhaayyu!
- 14 Nami eega du'e deebi'ee hin jiraataa ree?
Haga foorri naa dhufutti,
bara dadhabbi'iin lafa irra le'u duudii
ossaan hin eegadha'a.
- 15 Ati na hin waanta;
anille hin owwaadha;
ati hujii harka keetii na hin dharraata.
- 16 Achiin duuba tarkaaffii tiyya duudii hin laakkotta;
cubbuu tiyya ammoo natti hin heddu*.
- 17 Akka huura subba keessa keyamee gatamuu,
balleessaa tiyya duudii na irraa hin gatta;
cubbuu tiyyalle hin balleessita.

* 14:16 *Hin heddu: Yookiin herreddu*

- 18 Akkuma gaarri sigigaatee jijjigu,
 akkuma rassaalle addee ifii irraa ka'u,
 19 akkuma bisaan dhakaa qoqqotu
 akkuma lolaan biyyee haru,
 atille akkasuma addii namaa hin balleessita.
 20 Hunni teeti haga bara baraa
 isa irratti hin jabaatti;
 innille hin du'a.
 Bifa isaalle jijjiirtee
 ifi duraa hin balleessita.
 21 Ilmaan isaa yoo ulfinna dhaggatanu,
 inni hin beeku.
 Yoo isaan salphatanulle
 inni hin dhaggu.
 22 Dhibee nafa isaa qofatti itti dhage'ama;
 inni ifi qofaaf bowa» jedhe.

15

Eliifaaz

- 1 Achiin duuba Eliifaaziin nami qachaa Temaanii deebisee,
 2 «Nami qaroon
 dubbii hiikkaa hin qanne hin dubbataa?
 Gadhaa ifii keessalle'etti
 yaada miidhaa qabu qabatuu qabaa ree?
 3 Inni dubbii bu'aa hin qanneen,
 yookiin haasowa woy hin baaneen
 hin falmataa ree?
 4 Ati ammoo Waaqa sodaatiisa lakkitteerta;
 waaqonfannaa isaaf maltelle hin gufachiitta.
 5 Yakkaan teeti dubbii teetiin beekkanti;
 ati ammoo akka worra malte'ee
 dubbatiisa filatta.
 6 Dubbuma teetittuu sitti mura;
 arrabuma keetittuu
 dhugaa si irratti baya malee,
 anaa moti.
 7 «Nama duudi'iin dura ka dhalate si'ii ree?
 Ati gaaroti adoo hin dadaminiin dura dadantee ree?
 8 Marii Waaqaa ta dhossa'aa dhageetteertaa?
 Qarummaa nama duudi'ii ka beeku
 si qofa seetaa?
 9 Waan nuuti hin beenne,
 maan beetta?
 Waan nu'uuf ifa hin te'in maan hubatte?
 10 Worri mataan isaanii arrii te'e
 ka abbaa keeti caalaa dulloomane
 nu woliin jiran.
 11 Jajjabeessiis Waaqaa
 yookiin jechi inni malaan sitti dubbate
 si hin gewuu?
 12 Qalbiin teeti maaf si fudhattee ideenti?
 Aari'iin ila teeti maaf baatta?
 13 Maaf Waaqatti aartee

dubbiin akkasii afaan keetii baati?

- 14 «Nami qulqulluu te'uu hin dande'aa ree?
Nami foon uffate balchaa te'uu dande'a ree?
- 15 Waaqi ergantoota ifiitittuu hin addatu;
ol-gubbaanuu isa duratti qulqullu'uu moti.
- 16 Nami yakkaa akka bisaanii unu,
attam attam bada'aa fi battowa'a ree!
- 17 «Ani waan dhagge hin dubbadha;
sitti hima na caqasi.
- 18 Sunille waan worri qaroon
abbootii ifii irraa fuudhee
adoo hin dhossin dubbate.
- 19 Latti abbootii isaanii qofaaf kennanteertiyyu;
ormille odduu isaanii hin leene.
- 20 Nami hamaan ka nama cunqursaa le'e,
bara ifii duudii farraa le'a.
- 21 Qoonqoon bararassitu gurra isaatitti iyyiti;
yennaa wonni marti nageya itti fakkaattutti
ka balleessu isatti hin dhufa.
- 22 Shallaagaan isa waan eegatuuf
inni dukkana keessaa bayiisaaf
addii hin qabu.
- 23 Sagalee allaatti'ii te'iisaaf hin joonja;
guyyaan dukkanaa akka isatti dhikaatelle hin beeka.
- 24 Gaddaa fi laaleffati isa bararassan;
akka mooticha lolaaf qophowee itti hammaatan.
- 25 Inni harka ifii Waaqa irratti waan kaaseef,
Waaqa waan mara dande'u irratti
jabaa waan ifi fakkeesseef,
26 mataa jabinnaan wontee ifii
furdoo-jadduu fudhatee
ifi irraa dhooggatiisaaf itti fiiga.
- 27 «Fuulli isaa coomaan gollameera*;
hidhi isaa coomaan furdateera.
- 28 Nami kun qachoota diigame,
mana nami keessa hin leene,
ka diigamiisaaf dhikaate keessa le'a.
- 29 Inni hin duroomu,
karri isaalle yennaa heddu'uuf hin turtu;
lafa irralle'etti hin babadhattu.
- 30 Inni dukkana jalaa hin miliqu;
akka muka dameelee isaa bobeeni ibiddaa gosseetii fi
daraaraan isaalle hafuura aarii Waaqaatiin harca'ee hin te'a.
- 31 Inni womaa waan irraa hin dhagganneef,
waan bu'aa hin qannetti addatiisaan ifi hin sobin.
- 32 Akka muka jirmi isaa yennaan adoo hin geyin goguutii fi
dameeleen isaa hin bisillee hin te'a.
- 33 Inni akka muka woyni'ii
ka unkuruura ifii adoo hin bilchaatin harcaafatuutii fi
akka muka ejersaa

* 15:27 *Gollameera*: Yookiin bobbokokeer.

- ka daraaraa ifii harcaafatuu ti.
³⁴ Worri yaada Waaqa malee le'u
 sanyii hin qabaatu;
 Manni safu'uun[†] ijaarame
 ibiddaan gubatee bada.
³⁵ Worri akkas jiru
 hammeenna karoorfataa rakkinna fida;
 gadhaan isaanille sobaan guutameera» jedhe.

16

Iyob

- ¹ Achiin duuba Iyob deebisee,
² «Ani dubbii akkasii
 hedduu dhage'eera;
 isin marti jajjabeessitoota nama hifachiittanu.
³ Dubbiin teessan
 ta bu'aa hin qanne tun hin dhumattuu?
 Yookiin akka ati na woliin falmiisa hin lakkinneef
 maanti si kakkaasa?
⁴ Adoo isin addee tiyya buutanees,
 ani addee teessan bu'ee jiraadhee
 murgo'oon mataa isinitti raasaa
 akkuma isin amma jettanu
 anille isin irratti miidhassee dubbadhaayyu.
⁵ Dubbii afaan kiyyaatiin
 silaa isin hin jajjabeessaayyu;
 isin jabeessiisaafille
 guddoo dubbatuu dande'aayyu.
⁶ «Ani yoo guddoo dubbadhelle
 dhibeen tiyya hin goontu;
 yoo osselle dhibeen tiyya na hin lakkittu.
⁷ Waaqa kiyya, ati na daddassiitteerta;
 maatii tiyya duudiille balleessiteerta.
⁸ Ati na shuntuurachiitteerta;
 shuntuuratiis nafa kiyyaa
 na irratti dhugaa bayaa te'eera;
 huqqinni kiyya na irratti ka'ee,
 akka ani cubbuu huje dhugaa hin baya.
⁹ Waaqi mufii ifitiin nafa kiyya kukkute
 inni hidhii natti ciniinnatee,
 diinni kiyyalle ila natti diimeffate.
¹⁰ Namooti na ceeggatiisaaf afaan ifii natti banane;
 tuffiille'een na dhabanaasanees
 wolitti qabamanee natti ka'ane.
¹¹ Waaqi kolbaa hantu'utti dabarsee na kennee,
 harka worra hama'aatitti na gate.
¹² Ani nageyaan le'aa tureeyyu;
 Waaqi ammoo mufii ifitiin na hargufe;
 inni morma kiyya hudhee na butuchee,
 waan itti xiyyeeffatu na godhate.

[†] 15:34 *Safu'uun*: Yookiin malaamaltumma'aa.

- 13 Worri guube'ee ka isaa na marsee,
marartii malee kalattii tiyya kukkutee
hadhoottuu tiyyalle lafatti jisse.
- 14 Inni itti deddeebi'ee na madeesse;
akka loltu'uu gara kiyya ori'e.
- 15 «Ani gaddee woyaa gaddaa uffadheera;
bukuu keessalle'etti jigeera.
- 16 Fuulli kiyya bowichaan diimatee,
ilti tiyya dhagguu dadhaddeerti;
17 tun duudiin teetulle
ani hunnaan nama irratti hin kaane;
daadimati kiyyalle qulqullu'u.
- 18 «Ee lafa, dhiiga kiyya hin dhossin!
Iyyi tiyya si biratti ukkaamantee hin hafin!
- 19 Kunoo ka dhugaa naa bayuu fi
wobiin kiyya ol-gubbaa jira.
- 20 Jaaloti tiyya na tuffatti;
ani ammoo gara Waaqaa bowa.
- 21 Akkuma nami nama kadhatee wolitti araarsu,
nami namaa fi Waaqa wolitti araarsu
adoo hin jiraatu!
- 22 «Ani deensa deebi'ee hin deebine deemiisaaf
woggaa diqqoo qofatti naa hafeera.

17

- 1 Qooqqee qofatti na keessa jira;
barri jiruu tiyyaa haleelameera;
awwaallille na eegata.
- 2 Dhugumaan worri natti murgu
na marsaneeran;
ilti tiyyalle nunnuussaa isaaniititti xiyyeeffatti.
- 3 «Waaqa kiyya,
ka si woliin wobii naaf te'u naa kenni;
si'uma malee,
ka dhibiin ka wobii naaf te'u eennu ree?
- 4 Akka isaan hin hubanneef
qalbii isaanii cutteerta
tanaaf akka isaan injifatanu hin gootu.
- 5 Nama beese'eef jedhee
jaala ifii dabarsee kennu
ijoolleen isaa hin rakkatti.
- 6 «Waaqi nama nami marti fuulatti tufu
nama duudi'iifille ka mammaassaa na godhe.
- 7 Gadda irraa ta kaate
ilti tiyya dhagguu dadhaddee
nafi kiyya duudiin akka gaaddiddu'uu te'eera.
- 8 Worri qajeelaa ifi seyu waan kana maadeffata;
worri yakkaa hin qanne
worra Waaqa malee le'utti ka'a.

- ⁹ Te'uu malee balchooti
karaa dhuga'aa irraa hin goranu;
worri harki isaanii qulqullu'uu ifi seyanu
jabeenna irratti jabeenna ede'atan.
- ¹⁰ «Isin marti ammoo
deebi'aatii ammalle wodhaana'a.
Ani odduu teessanitti
nama qaroo hin dhaggu.
- ¹¹ Barri le'ii tiyya hobba'eera;
karoorrii fi halchaan gadhaa kiyyaa
karaa irratti hafane.
- ¹² Jarri tun halkan guyyaa gooti;
yennaa dukkanaa, «Ifi dhikaateera» jedhan.
- ¹³ Boolla awwaalaa akka mana kiyyaatitti
yoo ilaale,
taqee tiyya dukkana keessatti yoo afadhe,
¹⁴ boolla awwaalaatiin, «Ati abbaa kiyya»
corroga na nyaattulle'een,
«Haadha tiyya yookiin obboleettii tiyya» yoo jedhe,
¹⁵ addiin tiyya meet ree?
Addii tiyya tana eentu naaf dhagga ree?
- ¹⁶ Yoo ani gara boolla awwaalaa bu'u
addiin tiyya na waliin gad buutii ree?
wolille'een biyyee seennaa ree?» jedhe.

18

Biildaad

- ¹ Achiin duuba Biildaad nami biyya Shu'aa deebisee,
² «Iyoob, ati yoom dubbattee fixxa?
Caqasi, nuutille hin dubbanna.
- ³ Ati maaf akka hori'ii nu laakkotta?
Ila teeti duralle'etti
maaf akka gowwa'aatitti nu laakkotta?
- ⁴ Ati aarii teetiin ifuu miita malee,
latti sababa keetiif hin ontu;
yookiin rasaan addee ifii irraa hin tacho'u.
- ⁵ Issaan worra hamaaleyyi'ii hin dhaama;
bobeenni ibidda isaaniille ijjumaa hin bobe'u.
- ⁶ Issaan dunkaanii isaanii keessa jiru hin dhaama;
ifille hin dukkanowa.
- ⁷ Hunni tarkaaffii isaanii hin laatti*;
malli isaaniituu isaan hin gufachiisa.
- ⁸ Miilli isaaniituu tiyyoo keessa isaan hin galcha;
gara boolla keessa bu'anuulle hin deeman.
- ⁹ Tiyyoon komee isaanii hin qaddi;
fonxoroolle jabeessitee isaan hin qaddi.
- ¹⁰ Wodaroon isaan qaddu
lafa keessatti dhoffanteerti;
tiyyoolle karaa isaanii irratti afanteerti.
- ¹¹ Wonni nama bararassu
isaan marsiteerti;

* **18:7** *Hin laatti:* Yookiin dadhaddi.

- hordotteelle isaan hin ariiti.
¹² Hunni isaanii beelaan dhumatteerti;
 badiille qophoottee isaan eegatti.
¹³ Dhukkubi gogaa nafa isaanii hin fixa;
 duuti harkaa fi miila isaaniille hin nyaatti.
¹⁴ Dunkaanii addatanee le'anuu keessaa hin ari'aman;
 gara mootummaa du'aalle hin geeffaman.
¹⁵ Mana isaanii keessatti
 wonni takkaalle hin hattu.
 Qe'ee isaaniititti
 dhakaan bobbe'u hin firfirfama.
¹⁶ Isaan akka muka hidda hunde'een goguutii fi
 dameeleen isaa qoortuu hin te'an.
¹⁷ Qaabbiin isaanii lafa irraa hin baddi;
 maqaan isaaniille lafa irraa hin bada.
¹⁸ Isaan ifa irraa gara dukkanaatitti hin ari'aman;
 biyya lafaa irralle'ee hin balleeffaman.
¹⁹ Odduu kolbaa ifiitii
 dhala yookiin sanyii hin qabaatanu.
 Addee isaan le'anulle'etti
 ka jiru'uun hafu hin jiru.
²⁰ Worri gara aduun baatuutii fi
 gara aduun seentuu
 waan isaan irra geye dhage'anee
 sodaa guddo'oon qabamane.
²¹ Qe'een worra Waaqa malee le'uu
 addeen nama Waaqa hin beenneelle
 akkas teeti» jedhe.

19

Iyooob

- ¹ Achiin duuba Iyooob deebisee,
² «Isin haga yoomii na farrisiittan?
 Haga yoomii jechaan lafee na cassitan?
³ Isin deddeebitanee na arrassitan;
 daba na irratti hujjanuuf hin fukkifattanuu?
⁴ Dhuguma yoo dokonkoree jiraadhe,
 dokonkorri sun anuma qofa miidha.
⁵ Dhuguma isin na irratti ifi ol ol qaddanee,
 qaanii tiyya waan anaan morontanuun
 yoo godhattane,
⁶ ka na farrisiisee,
 tiyyoo ifitiin na marsee xaxe
 Waaqa akka te'e beeka'a.
⁷ ««Hunnaan na irratti ka'ane» jedhee iyyadhulle,
 deebii hin dhaganne.
 Qoonqoo tiyya ol qabadhee dhageessifadhulle,
 muraa haqaa hin dhaganne.
⁸ Waaqi akka ani hin dabarreef
 karaa natti cufeera;
 daandii tiyyalle dukkanaa golleera.
⁹ Inni ulfinna kiyya na irraa fuudhee,

- kallachalle mataa kiyya irraa buuseera.
- ¹⁰ Inni karaa maraan nafa kiyya caccassee hurbee,
addii tiyyalle akka mukaa buqqiseera.
- ¹¹ Inni mufii ifii na irratti bobeessee,
akka diina ifititti na laakkowe.
- ¹² Inni na balleessiisaaf loltoota ifi erge;
isaan adaala dunkaanii tiyyaatitti
kushee hujatanee qubatane.
- ¹³ «Waaqi obboleeyyan tiyya na irraa fageesse;
worri na beekulle alagaa akka natti te'u godhe.
- ¹⁴ Firri kiyya na irraa fagaate;
jaaloti tiyyalle na dedhane.
- ¹⁵ Keessummooti ani mana kiyyatti keessummeesse
na dedhane.
Dubartooti tajaajiltooti tiyya
akka ormaatitti na laakkowane;
akka alaga'aalle na ilaalane.
- ¹⁶ Ani tajaajilaa kiyya waame,
inni ammoo na jalaa dide;
akka na qarqaaruuf yennaa kadhadhelle na didate.
- ¹⁷ Haati manaa tiyya foolee hafuura kiyyaa jibbite;
obboleeyyan tiyyaayyuu na diqatte.
- ¹⁸ Ijoolleen didiqoonuu na tuffatti;
yennaa na dhagganu natti murgan.
- ¹⁹ Jaaloti tiyya ta ani addadhu na diqatte;
worri ani jaaladhulle na irratti ka'e.
- ²⁰ Foon kiyya dhumatee,
gogaan kiyya lafee tiyyatti maxxanee,
irgi* ilkaan kiyyaa callaan jiruun ani hafe.
- ²¹ «Ee jaalota tiyya,
harki Waaqaa waan na dhoweef,
naaf marara'a!
Naaf marara'a!
- ²² Akkuma Waaqi na miidhe
isinille maaf na miitan?
Haga ammaa ka na miitane
isin hin gewuu?
- ²³ «Maalo'o, dubbiin ani haga ammaa dubbadhe
barreeffantee, kitaabatti adoo galmeeffantee!
- ²⁴ Maalo'o, bara baraan akka yaadatantuuf
meya sibiilaatii fi irsaasaatiin
rassaa irratti qiriixantee adoo hin barreeffantuu!
- ²⁵ Ka na wodu jiraataa akka te'e,
muummee irralle'etti,
dhugaa bayiisaaf lafa irra akka dhaabbatu hin beeka.
- ²⁶ Gogaan kiyya nyaatamee dhumateen duuba te'ulle
foon kiyyaan jiraadhee
Waaqa akka dhaggu hin addadha.

* **19:20** *Irgi*: Lafa tokko tokkotti *irgagi* jedhama.

- 27 Anumattuu isa dhagga;
 ani ila tiyyaan isuma dhagga malee,
 ka dhibi'ii moti.
 Gadhaan kiyya guyyaa san guddoo dharra'a.
- 28 «Isin, «Sababi rakko'ootuu isuma keessa waan jirtuuf,
 nuuti attam isa miina?» yoo jettane,
 29 mufiin Waaqaa shallaaga'aan adabamiisa
 waan fidduuf
 isin shallaagaa san sodaadha'a;
 muraalle akka jirtu beeka'a» jedhe.

20

Zofaarii Naa'imaaticha

- 1 Achiin duuba Zofaariin Naa'imaatichi deebisee,
 2 «Iyoob, ani deebii akka kennuuf
 yaadi kiyya na dirqansiisa;
 tanaaf dubbatiisaaf ariifadha.
 3 Arraffama ittiin salphadhe dhage'adheera;
 hubatiis kiyya
 akka ani deebii kennu na godheera.
- 4 «Bara durii durii
 yennaa nami biyya lafaa irratti dadameen jalqabee,
 dubbii akkasii tana beettaa ree?
 5 Qaca'iis worra hama'aa,
 haguma diqqa'a.
 Gammadi worra Waaqa malee le'uulle
 haga lipheettii ilaa ti.
- 6 Isaan haga ol-gubba'aa ifi ol ol qabanulle,
 mataan isaanii duumensa tuqulle,
 7 isaan akkuma faalowa ifii hin badan;
 worri dur isaan dhaggeeru,
 «Isaan meet ree?» hin jedhan.
- 8 Isaan akka oojju'uu waan badanuuf
 hin dhaggamanu;
 akka mudhii halkaniille hin badan.
- 9 Ilti tanaan dura isaan dhaggite,
 deebitee isaan hin dhaggitu;
 isaan addee le'anu irralle'ee hin badan.
- 10 Ijoolleen isaanii
 waan abbootiin isaanii hiyyeeyyii irraa saante
 sossobataa hin deebitti.
- 11 Nafi isaanii ka hunna dargaggumma'aatiin guutame
 isaan woliin biyyee hin te'a.
- 12 «Hammeenni afaan isaanii keessatti mi'owee,
 arraba ifitiin jalatti dhossanee,
 13 afaan ifii keessaa baasuu jibbanee,
 afaan ifii keessatti qabatanulle,
 14 sagaleen isaanii gadhaa isaanii keessatti
 gara hadha'aatitti hin jijjiiranti;
 akka hadhaa dhudhuufa'aalle hin teeti.

- 15 Isaan karra nyaatane hin tufan;
Waaqi waan isaan nyaatane
akka diddiganu hin godha.
- 16 Wonni isaan nyaatanu
hadhaa dhudhuufa'aa itti hin teeti;
hadhaa buuti'iille itti teetee isaan hin iijeetti.
- 17 Isaan bisaanii fi laga
ka dammaa fi ittittuu woliin yaa'u hin dhagganu.
- 18 Waan ifii itti elowane
adoo hin nyaatin deebisaneen hin kennan;
bu'aa daldalanee dhaggatanelle'etti hin gammadanu.
- 19 Isaan hiyyeeyyii cunqursanee duwwaa hamburaneen,
mana ifii hin ijaarinille waan fudhataneef tun teete.
- 20 «Joljolummaan isaanii foora isaan dhooggiteerti;
qabeenni isaanii isaan baasuu hin dande'u.
- 21 Isaan waan qabanu nyaataneen hin fixan;
tanaaf qabeenni isaanii dafee hin dhumata.
- 22 Qabeenna hedduu qabaatanulle,
deegi isaanitti hin bu'a;
rakkoon jadduulle isaan hin dhaqqaddi.
- 23 Isaan nyaataneen yenna quufanu,
Waaqi aarii ifii isaan irratti bobeessee,
balaa ifii akka bokkeyaa
isaan irratti hin roobisiisa.
- 24 Shallaagaa sibiilaa jalaa yoo miliqe
daaya sageettu'uutiin hin woraanaa.
- 25 Daayi sun woraaneen duddaan isa fulla'a;
qacceen calalaxxuun arfii sanii
tiruu isaanii keessa baati;
naasuulle'een hin qabaman.
- 26 Qabeenni isaanii duudiin
dukkana dimmaa keessatti bada;
ibiddi hin dhaanne isaan hin guba;
waan dunkaana isaanii keessa hafelle
muxuq godha.
- 27 Ol-gubbaan yakkaa isaanii hin mudhitti;
lattiille diinumma'aan isaan irratti hin kaati.
- 28 Guyyaa mufi Waaqaa
qabeenni mana isaanii lola'aan hin fudhatama.
- 29 Qoodi Waaqi worra hama'aaf kennu,
gatiin isaaniille tana» jedhe.

21

Iyob

- 1 Iyob deebisee,
2 «Waan ani dubbadhu miidhassa'aa caqasa'a;
kun akka na jajjabeesitanetti isiniif laakkowamuu ti.
- 3 Ani hin dubbadhaa naaf ossadha'a;
achiin duuba akka feetane murguu dandeettan.
- 4 «Ani nama komadhaa ree?

- Maaf ossa hin dhanne ree?
⁵ Ana ilaala'aatii maadeffadha'a;
 afaan keessanille qabadha'a.
⁶ Ani waan kana yennaa yaadadhu hin bararaqa;
 nafi kiyyalle hin hollata.
⁷ Worri hamaan maaf le'a?
 Maaf ganna dheeraa le'ee dullooma?
 maaf hunnaan ittuma jabaataa deema?
⁸ Ijoolle'ee fi akaakoti isaanii adoo isaan jiraranuu
 fuula isaanii duratti guddatanee itti tolteen dhaggan
⁹ Isaan mana ifii keessa sodaa malee nageyaan le'an;
 Waaqi isaan hin adabu.
¹⁰ Horiin isaanii rakkoo tokko malee hora;
 loon isaaniille rimeya gadha'aa hin gatanu.
¹¹ Ijoollee ifii akka tika hoole'ee bobbaasan;
 daa'immaan isaaniille hin burraaxxi.
¹² Isaan dibbe'ee fi maseengo'oon
 qoonqoo suusulle'eetiin
 gammadanee hin sirban.
¹³ Isaan qananumma'aan bara ifii fixatan;
 farra malee du'an.
¹⁴ «Isaan Waaqaan,
 «Nuuti karaa keeti beekuu hin feenu;
 nu irraa fagaadhu.
¹⁵ Nuuti akka isa waaqonfannuuf
 ka waan mara dande'u eennu inni?
 Isa yoo daadimanne
 bu'aa maan dhagganna?» jedhan.
¹⁶ Qananummaan isaanii
 harkuma isaanii keessa jirtii motii ree?
 Maarre ani yaada worra hama'aa hin fudhadhu.
¹⁷ «Issaan worra hama'aa
 yennaa mara attam attam bada?
 Farri yennaa maraa attam attam isaanitti dhutti?
 Isaan yennaa mara adabbii mufii ifitiin
 attam attam farrane?
¹⁸ Isaan akka huura qilleensa dura jiruutii motii ree?
 Akka cidii bubbe'een fudhatantuutii motii ree?
¹⁹ Isin «Waaqi yakkaa abbooti'iitiif
 ijoollee hin adaba» jettan;
 te'uu malee yakkaameyyiin
 yakkaa ifii akka beekanuuf,
 isaanunti adabamanuu ti.
²⁰ Cubbaaleyyiin yakkaa ifitiif adabamanuu ti;
 Waaqi waan mara dande'u
 mufii ifii isaanitti buusuu ti.
²¹ Nami du'een duuba
 marroo ijoollee ifitiif
 maanti isa dhiba?
²² «Waaqa worra gugurda'attuu muru
 nami beekkumsa isa barsiisuu dande'aa ree?
²³ Nami gariin adoo hunna qabuu

- le'iin itti toltee nageyaan adoo jiruu,
²⁴ nafi isaa adoo gabbinna qabuu,
 lafee isaa keessa dhuki guuttee adoo jirtuu du'a.
²⁵ Nami dhibiin ammoo jiruun itti hadhoottee,
 waan dansaa adoo hin dhaggin du'a.
²⁶ Isaan lamaanuu du'anee awwaalamanee
 corroxille itti duuddi.
- ²⁷ «Kunoo, ani yaada keessan,
 mala isin na miidhiisaaf maltanelle
 miidhassee beeka.
²⁸ Isin, «Manni nama guddaa sanii meet ree?
 Dunkaaniin worra hama'aa keessa meet ree?» jettan.
²⁹ Isin worra karaa yaa'u hin gaafannee ree?
 Waan isaan jedhanelle hin fudhannee ree?
³⁰ Nama hamaa balaan yenna dhufu
 miidhaan isa hin dhaqqabu;
 guyyaa mufii Waaqaalle jalaa hin baya.
³¹ Nama hamaa amala isaa ka isa duratti komatu,
 hujii hantuu isaatiifille ka isa adabu eennu ree?
³² Yenna inni du'e gara awwaalaa hin geessan.
 Irreensi isaalle hin eegama.
³³ Biyyeen dhooqa keessaa
 isatti hin tolti.
 Namooti bacaan isa duubaan deeman;
 kolbaan bindillaalle isa dura deenti.
- ³⁴ «Deebiin isin naaf kennitanu soba;
 attamiin dubbii woy hin baaneen
 na jajjabeessiisaaf wodhaantan ree?» jedhe.

22

Eliifaaz

- ¹ Achiin duuba Eliifaaziin Temaanichi deebisee,
² «Nami Waaqaaf bu'aa qabaatuu dande'aa ree?
 Nami qaroolle bu'aa ifumaaf buufata.
³ Ati balchaa yoo teete, balchummaan teeti
 Waaqa waan mara dande'u maan gammachiitti?
 Karaan keeti ka komii hin qanne yoo te'e,
 inni woy dhaggataa ree?
- ⁴ «Ati Waaqa waan sodaattuuf
 inni si xixee muraa si irratti fidee ree?
⁵ Tun sababa hammeenni keeti guddatee,
 cubbuun teeti bacatteefii motii ree?
⁶ Ati sababa malee obboleeyyan teeti irraa
 qaddii fudhatteerta;
 namoota irraa woyaa mulqitee,
 qullaa hamburteerta.
⁷ Ati worra dheebotee dadhabeef
 bisaan hin kennine;
 worra beelowelle sagalee dhooggatteerta.
⁸ Latti ta worra hunnaameyyi'ii ti;

- worra ulfinna qabutti isii irra le'a.
- ⁹ Haadhotii hiyyeessaa
harka duwwaa gad lakkitteerta;
ijoollee haadhaa fi abbaa hin qanneelle cunqursiteerta.
- ¹⁰ Tanaaf tiyyoon si marsitee,
dedhuma sodaan si bararassite.
- ¹¹ Akka ati dhagguu hin dandeenne
dukkanti si qaddee,
lolaan si liqinse.
- ¹² «Waaqi ol-gubbaa olii keessa le'aa motii ree?
Urjoota ol fagoo jiranulle,
gad ilaalaa motii ree?
- ¹³ Ati ammoo, «Waaqi maan beeka?
Dukkana dimmaatiin gara kaan jiraatee
natti muruu dande'aa?
- ¹⁴ Inni gonbobittii ol-gubba'aa irra yennaa deddeemu
duumensi hurrantaan waan isa golluuf
dhagguu hin dande'u» jetta.
- ¹⁵ Ati karaa durii ka worri hamaan irra deddeeme
hordofaartaa ree?
- ¹⁶ Isaan adoo yennaan isaanii hin geyiinuu qoomamaneeran;
hundeen isaanii lola'aan haxowanteerti.
- ¹⁷ Isaan Waaqa waan mara dande'uun, «Nu irraa fagaadhu;
maan nuu godhuu dandeetta?» jedhane.
- ¹⁸ Te'uu malee isumattuu mana isaanii
waan dansa'aan guute;
tanaaf ani yaada worra hama'aa hin fudhadhu.
- ¹⁹ «Balchooti badii worra hamootaa dhagganee hin gammadan;
worri yakkaa hin qanne murgo'oof itti kollaa,
- ²⁰ «Dhuguma diinni keenna badeera;
waan isaan irraa hafelle ibiddi fixeera» jedhan.
- ²¹ «Iyoob, Waaqaan wolii galiitii
isa waliin nageya qabaadhu;
karaa kanaan waan dansaa hin dhaggatta.
- ²² Qajeelcha inni sii kennu fudhadhu;
jecha isaalle gadhaa keetitti qabadhu.
- ²³ Ati gara Waaqa waan mara dande'uu yoo deebite,
akka duriititti hin deebite;
hammeenna dunkaanii teeti keessaa yoo fageessite,
- ²⁴ worqii akka buku'uutitti,
worqii gatii guddo'oolle*
akka rassaa bisaan keessaatitti yoo ilaalte,
- ²⁵ Waaqi waan mara dande'u
worqi'ii fi meetii gatii guddo'oo siif hin te'a.
- ²⁶ Achiin duuba ati
Waaqa waan mara dande'uun hin gammadda;
isalle'etti addattee hin leeta.
- ²⁷ Ati gara isaa hin daadimatta,

* **22:24** *Worqii gatii guddo'oolle: Afaan Ibrootaatiin worqii Ofiriille* Jedha. Bara san worqii Ofirii gatii guddo'oon bitatan.

- innille si'iif hin dhage'a;
 atille waadaa keeti isaaf hin galchita.
²⁸ Wonni ati murteeffatte siif hin teeti;
 ifille karaa keetitti hin ifa.
²⁹ Waaqi worra kooru gad qaba;
 worra ifi gad qabu ammoo hin fayyisa.
³⁰ Sababa ati yakkaa hin qanneef,
 Waaqi worra yakkaameyyi'iiyyuu
 adabbii jalaa hin baasa» jedhe.

23

Iyoob

- ¹ Achiin duuba Iyoob deebisee,
² «Ani iyyaa aadulle
 dhowichi isaa waan natti jabaateef,
 haga ammaa gadhaan kiyya
 gadda hama'aa fi gungussu'uun guutameera.
³ Addee isa itti dhaggu adoo beeke,
 gara addee inni le'uu dhagee,
⁴ silaa iyyata kiyya isatti dhikeeffadhee,
 afaan kiyya guutadhee isatti hin dubbadhaayyu.
⁵ Waan inni naaf deebisu
 sila hin beekaayyu
 waan inni naan jedhulle
 sila hin hubadhaayyu.
⁶ Waaqi hunna ifii guddo'oon
 na morminnaa laati?
 Waawwo'o! Inni naaf hin dhage'a.
⁷ Achitti nami qajeelaan haajaa ifii
 Waaqa duratti dhikeeffata;
 Waaqi abbaan mura'aa kiyyalle
 haga bara baraa bilisa na hin baasa.
⁸ «Ani gara aduun baatu yoo dhage
 inni achi hin jiru.
 Gara aduun seentulle yoo deebi'e,
 isa dhagguu hin dandeenne.
⁹ Yennaa inni gara kaabaatiin huju
 ani isa dhagguu hin dande'u.
 Yennaa inni gara kibbaallee deebi'uu
 ani isa dhagguu hin dande'u.
¹⁰ Inni ammoo karaa ani deemu mara hin beeka;
 yennaa inni haga na ilaalu
 akka worqi'ii qulqulluu te'eeruun na dhagga.
¹¹ Miilli kiyya faana isaa gula deema;
 karaa isaa irraa asii fi achi hin goru.
¹² Ajaja afaan isaatii bawu irraa,
 ani hin fagaanne;
 jecha isaalle gadhaa kiyyatti qabadheera.
¹³ «Waaqi hin jijjiiramu;
 eennulle isa mormuu hin dande'u;

- inni waan fedhe godha.
¹⁴ Inni waan naaf yaade mara hin muummessa;
 wonni hedduun akkasii qalbii isaa keessa jirti.
¹⁵ Tanaaf ani isa duratti hin bararaqa;
 yennaa waan kana mara hedu isa sodaadha.
¹⁶ Waaqi na sodaachise;
 ka waan mara dande'u na bararasse.
¹⁷ Te'uu malee ani dukkanaa,
 dukkana dimma fuula kiyya gollite saniin hin cadhinne.

24

- ¹ «Waaqi waan mara dande'u
 guyyaa mura'aa maaf hin murteessin?
 Worri isa beekanu
 guyyaa mura'aa san maaf hin dhaggin?
² Worri hamaan beessisa meessa'aa balleessa;
 isaan hoolee hatane bobbaafatan.
³ Harree ijoollee haadhaa fi abbaa hin qannee
 oofatanee deeman;
 qotiyyoo haadha hiyyeessaa
 qaddi'iif fudhatan.
⁴ Isaan hiyyeeyyii karaa irraa hin ari'an;
 hiyyeeyyiin lafa irraa marti
 isaan duraa hin baqatan.
⁵ Hiyyeeyyiin akka harree diidaa goomolee keessa
 ijoollee ifitiif sagalee barbaassa
 lafa goomole'ee keessa daddaaqan.
⁶ Isaan fichaa nama dhibi'ii keessaa
 okeya hin haammatan;
 oorruu woyni'ii ta worra hama'aa keessalle'ee
 woxoo qocatan.
⁷ Halkan guutuu qullaa bulan;
 booji'iif'ille waan ifi irra buufatanu hin qabanu.
⁸ Bokkeya gaara irra roobuun hin tortoran;
 waan jalatti qophatanu dhabanee
 rassa'atti maxxanatee bulan.
⁹ Worri hamaan daa'ima abbaa hin qanne
 harma irraa butanee garboonfatan;
 daa'ima hiyyeessaa qaddii godhatan.
¹⁰ Hiyyeeyyiin woyaa malee qullaa ifi deeman;
 isaan laddee hin ba'atan ammoo hin beelowan.
¹¹ Tarree fichaa worra hamoole'ee oddu'utti
 zayitii ejersaa hin cunfan;
 unkuruura woyni'ii irralle'ee
 daadhii woyni'ii hin cunfan;
 isaan ammoo hin dheebotan.
¹² Qachoota gugurdaa keessaa worri du'u hin aadan;
 worri madowanelle qarqaaramiisaaf hin iyyan;
 Waaqi ammoo daadimata isaanii hin caqanne.
¹³ «Worri ifa jibbu,
 worri karaa ifaa hin beenne,
 yookiin daandii ifaa irralle hin turre jiran.

- 14 Nami nama ijjeesu fuullee bari'iitiin ka'ee,
hiyyeeyyi'ii fi worra rakkate hin ijjeesa;
halkanille akka hattu'uu hata.
- 15 Nami gaarayyeeffatu lafa dhiitu eegata;
eenulle akka isa hin dhaggineef
fuula ifii hin hagooggata.
- 16 Hattuun halkan gottee seenti;
guyyaa ammoo dhokaata oolti;
ifaan waan tokkolle godhuu hin barbaaddu.
- 17 Dukkanaan bararassiisi waan isaan gammachiittuuf,
dukkanti dimmi isaaniif ganama.
- 18 «Worri hamaan akka hoomacha bisaan irraa,
yennaa diqqoo gofaaf mudhatan.
Qoodi lafa isaanii ta abaarante waan teeteef,
namuu gara fichaa woynii isaanii hin dhaqu.
- 19 O'ii fi caami
dhakaa bokkeyaa ka baqe akkuma balleessu
qileen awwaala jalaalle cubbaaleyyii akkasuma gooti.
- 20 Haadhotiin isaanii isaan hin deeti;
corroxxille isaan hin nyaatti;
namuu isaan hin qaabatu;
worri hamaan akka mukaa hin caccaba.
- 21 Isaan dubartii deya hin qanne hin cunqursan;
haadha hiyyeessaatiifille waan dansaa hin godhanu.
- 22 Waaqi ammoo hunna ifitiin
worra hunnaameyyii hin balleessa.
- Le'iin isaanii ta tolte fakkaatulle,
jiruu addachiittu hin qabanu.
- 23 Waaqi akka isaan nageyaan le'anu lakkisulle,
karaa isaan deemanu hubatee hin ilaala.
- 24 Worri hamaan yennaa diqqo'oof hin jajaman;
achiin duuba ammoo
akkuma daraara'aa qooranee hin badan;
akka midhaaniille hin haamaman.
- 25 «Yoo akkas hin te'in
ani dharaamessa akka te'ee fi
wonni ani dubbadhe sirrii akka hin te'in
ka mirkaneessu eennu ree?» jedhe.

25

Biildaad

- 1 Achiin duuba Biildaad nami biyya Shu'aa deebisee,
- 2 «Mootumma'aa fi sodaatamuun ta Waaqaa ti;
inni ol-gubbaa oliititti nageya hin buusa.
- 3 Laakkowamuu dandeettii ree?
Ifi isaa eennu irratti ifuu dhaba ree?
- 4 Nami attam Waaqa duratti
balchaa te'uu dande'a ree?
Nami nama te'ee dhalate
attam qulqulluu te'uu dande'a ree?
- 5 Kunoo, ji'inuu isa duratti akka dansaa hin ifu;
urjootille isa duratti qulqulluu moti.

- ⁶ Ilmi namaa ka akka raammo'oo fa'a,
attam attam caalaa diqqaata ree!» jedhe.

26

Iyob

- ¹ Achiin duuba Iyob deebisee,
² «Ati nama hunna hin qanne
attam attam qarqaarte!
Nama dadhabaalle
attam attam jabeessite!
³ Ati nama qaroo hin te'in
attam attam gorsite!
Beekkumsalle attam attam kenniteef!
⁴ Tana akka dubbattu ka si qarqaare eennu?
Ayyaana eennuutitti afaan keeti keessaa dubbate?
- ⁵ «Ekeraan abbaaya'aan jalatti
rorommiisatti jirti.
⁶ Addeen worri du'e jiru
Waaqa duratti guutumatti mudhatti;
wonni takkaalle isii hin gollitu.
⁷ Waaqi gubbaa gara kaabaa addee duwwaa irratti diriirse;
lafaalle womaa adoo jala hin jiraatin rarraase.
⁸ Waaqi duumensa keessatti bisaan kipha;
duumensille ulfaatiisa bisaaniitiin hin tarsa'u.
⁹ Inni barcumaa mootummaa ifii
duumensa ifii diriirsee hin golla.
¹⁰ Waaqi ifaa fi dukkana gargar baasiisaaf,
bisaan irratti naannessee meessaa godheera.
¹¹ Yennaa inni xixu
utubooti ol-gubba'aa soda'aan hin raafaman.
¹² Inni hunna ifitiin
abbaayaa hin sarmisiisa,
qarummaa ifitiin bineensa guddaa abbaayaa keessaa ka, «Rahaab»
jedhamu hin kukkuta.
¹³ Inni hafuura ifitiin ol-gubbaa qulqulleessee,
harka ifitille'een jawwee lowiisatti jirtu woraane.
¹⁴ Kun duudiin waan Waaqi huju keessaa diqqo'o;
nuuti hasaassaa isaa qofa dhageenna;
mandiisuu hunna isaa eentu hubatuu dande'a ree?» jedhe.

27

Iyob

- ¹ Ammalle Iyob dabalee,
² «Dhugaa Waaqa jiraataa waan mara dande'uu
ka haqa kiyya na dhooggatee,
jiruu tiyya natti hadheessee,
³ haga lubbu'uun jiru
hafuurri Waaqi na keessa keye haga na keessa jiru,
⁴ hantuun afaan kiyya keessaa hin baatu;
arrabi kiyyalle soba hin dubbatu.

- ⁵ Ani ijjumaa isiniin sirri'i hin jedhu;
haga du'a tiyyaatitti yakkaa malee le'uu irraa hin goru.
- ⁶ Balchummaa tiyyatti hin jabaadha'a;
gad hin lakkisulle'e;
bara le'ii tiyyaa
wodanaan kiyya waan kanatti hin gaabbu.
- ⁷ «Diinni kiyya akka worra hama'aa,
worri na mormu
akka worra balchaa hin te'inii te'uu ti.
- ⁸ Yennaa Waaqi isaan balleessu
yennaa inni lubbuu isaan keessaa baasu
addiin worra Waaqa malee le'uu
maan te'itti laati?
- ⁹ Yennaa rakkinni isaanitti dhufu
Waaqi iyya isaanii hin dhage'aa ree?
- ¹⁰ Isaan Waaqa waan mara dande'utti
hin gammadanii ree?
Yennaa mara Waaqa hin waammatanii ree?
- ¹¹ «Ani marroo hunna Waaqaa isin barsiisa;
karoora Waaqa waan mara dande'uulle
ani isin hin dhossu.
- ¹² Isin martinuu tana dhaggitaneertan;
eegasuu waan bu'aa hin qanne maaf dubbattan ree?
- ¹³ Qoodi nami hamaan
Waaqa irraa dhaggatu,
dhaalli nami nama cunqursu
Waaqa waan mara dande'u irraa fudhatu,
ka asii gad jiru:
- ¹⁴ Ijoolleen isaa yoo heddattelle
shallaaga'aan dhumatti;
sanyiin isaalle sagalee quuttee nyaattu hin qabaattu.
- ¹⁵ Worri baraareen hafe dhukkubaan dhumata;
haadhotiin hiyyeessaa isaaniille
isaaniif hin boottu.
- ¹⁶ Worri hamaan meetii akka biyye'ee tuulee,
woyaalle akkuma faara biyye'ee
wol irra naquu dande'a fa'a.
- ¹⁷ Waan isaan tuulatane san ammoo,
worra balcha'attuu uffata;
worri yakkaa hin qannelle meetii hin qoqoodaman.
- ¹⁸ Manni isaan ijaaranu akka mana saaphuphu'uutii fi
akka gosee nama midhaan eeguu ti.
- ¹⁹ Worri hamaan dureessa te'ee hin rafa,
ammoo itti hin deebi'anuu;
yennaa isaan dammaqanu,
karri isaanii marti baddeerti.
- ²⁰ Bararaqi akka lola'aa isaan irra yaa'a;
halkan hobonbolattiin isaan fudhattee deenti.
- ²¹ Qilleensi gara aduun baatuu
isaan fuudhee deema;
isaanille hin dhaggamanu;
addee isaanii irraa haxowee isaan balleessa.

- 22 Isaan hunna qilleensa sanii jalaa bayiisaaf wodhaananulle,
marartii malee bira itti dabara.
23 Qilleensi isaan irratti harka dhowee
addee jiru irralle'ee isaanitti siissa*.

28

Wolaloo Marroo Qarumma'aa

- 1 «Dhuguma boolli meetii keessaa qotanee baasanu,
addeen worqii itti baqsiisanu jirti.
2 Sibiilli lafa keessaa dhaggama;
sibiilli diimaalle biyyee albuudaa keessaa
baqisiifamee dhaggama.
3 Namooti qilee lafaa keessa seenanee
dukkana dimmaa keessa lixanee
biyyee albuudaa barbaadan.
4 Isaan lafa nami le'u irraa fagaatanee,
addee miilli namaa ijattee hin beenne geyan.
Achitti boolla qilee qotanee
wodaroo irratti rarra'aa
nama irraa fagaatanee qofuu ifi hujan.
5 Latti midhaan sagalee te'u baattu,
keessi isi'ii ammoo ibiddaan baqee garagaggala.
6 Rassaa isi'ii keessaa
dhakaan gatii guddo'oo
ka «Safiroos» jedhamu dhaggama;
biyyee isi'ii keessalle'ee worqiin hin dhagganti.
7 Karaa gara albuudaa geessu san risaan hin beeku;
ilti jajju'uulle hin dhaggine.
8 Bineensi hamaan addee san hin ijjanne;
neenqille karaa san hin dabarre.
9 Harki nama albuuda qotuu
rassaa jabaa hin caccassa;
gaarotalle hundee irraa garaggaggalcha.
10 Isaan rassaa dhoosanee karaa hin baasan;
ilti isaaniille waan gatii guddo'oo hin dhaggiti.
11 Madda lagaa hin kiphani;
waan lafa keessatti dhokatelle ifatti hin baasan.
12 «Ammoo qarummaan eessatti dhagganti?
Addeen hubanti'ii eessa jirti?
13 Qarummaan lafa nami le'u keessatti hin dhaggantu;
namille gatii isi'ii hin beeku.
14 Qileen abbaaya'aa,
«Qarummaan na keessa hin jirtu» jetti;
abbaayaalle, «Qarummaan na bira hin jirtu» jetti.
15 Qarummaan worqii qullu'uun hin bitantu;
gatiin isi'iille meeti'in hin madaalantu.
16 Gatiin isi'ii worqii gatii guddootiin,
dhakaa «Sardoniikis»^{*} jedhamuun
yookiin dhakaa, «Safiroos» jedhamuun wol hin qixxawu.

* 27:23 Siissa: Lafa tokko tokkotti fiissa jedhan. * 28:16 Sardoniikis: Dhakaa gatii guddoo qabu.

- 17 Worqi'ii fi daaw'itiille'een[†]
wol hin qixxoottu.
Dooqa worqii qullu'uulle'een
hin jijjiirantu.
- 18 Gatiin qarumma'aa dooqa gatii guddo'ootii fi
dhakaa gatii gudda'ootiin wol hin qixxoottu;
elellaan diintuulle[‡] caalti.
- 19 Qarummaan dhakaa gatii guddo'oo ka Itoophiya'aa\$,
ka «Xophaaziyon» jedhamuun wol hin qixxoottu;
worqii qulluu gatii guddo'oolle'een wol hin qixxoottu.
- 20 «Eegasuu qarummaan eessaa dhutti ree?
Addeen hubantiin jirtu eessa ree?
- 21 Isiin ila dada maraa duraa dhokatteerti;
sinbirrootaayyuu dhokatteerti.
- 22 Badi'ii fi duuti,
«Nuuti oduu isi'ii qofa
gurra keennaan dhageenne» jedhan.
- 23 Waaqi karaa gara qarumma'aa geessu hin hubata;
addee isiin jirtulle isa qofattuu beeka.
- 24 Inni qaccee lafaa duudii waan dhagguuf,
waan ol-gubba'aan jala jiru mara dhagga.
- 25 Waaqi yennaa qilleensaaf hunna kenne,
haga bisaaniille yennaa mike*,
- 26 Bokkeyaaf seera,
balagqeetti'iiifille karaa yennaa baase,
27 achiin duuba qarummaa ilaalee,
gatii isi'ii murteesse;
inni isii qorqoree jabeessee isii dhaabe.
- 28 Achiin duuba inni namaan,
«Kunoo, Mootii Waan Maraa sodaatiis qarumma'a;
waan hantuu irraa goriisille hubanti'i» jedhe» jedhe.

29

Dubbii Iyoobii Ta Dhumarraa

- 1 Iyoob ammalle dubbatee,
2 «Le'iin tiyya ta ammaa
ta akka yennaa Waaqi dur na eegee
adoo teete ani attam fedhaayyu!
- 3 Yennaa ifi isaa mataa kiyya irratti ife,
dukkana keessa ani ifa isaatiin ideeme.
- 4 Yennaa bara qananummaa tiyyaa
yennaa eeddoon Waaqaa
dunkaana tiyya irra jirtu,
5 yennaa Waaqi waan mara dande'u na woliin jiru,
yennaa ijoolleen tiyya na marsiteertu,
6 yennaa ani aananiin miila kiyya dhiqadhe,
yennaa rasaan zayitii ejersaa naaf madde,

[†] 28:17 *Daaw'itii*: Bara durii gatiin daaw'itii akka malee guddo'o. [‡] 28:18 *Elellaan diintuu*: Bara durii elellaan gatii guddoo qaddi § 28:19 *Itoophiyaa*: Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali.

* 28:25 *Mike*: Wodaro'oon yookiin ciqile'een haga waan tokkoo beekiisaaf laakkowiisa.

- ⁷ yennaa ani gara seensuma karra qacha'aa dhaqe,
 yennaa ani addee wolgeyi'ii san tee'e,
⁸ dargaggooti na dhagganee karaa irraa gorane;
 jaarsoleelle kaatee dhaabbatte.
- ⁹ Sooreyyiin kolba'aalle dubbatuu lakkittee,
 afaan qabatte.
- ¹⁰ Qoonqoon gondaaltotaa cadhittee,
 arrabi isaaniille laagadaa isaaniititti maxxane.
- ¹¹ Ka na dhage'e duudiin na jaje;
 ka na dhaggelle duudiin na galateeffate.
- ¹² Sababille ani worra hiyyeeyyii iyyu,
 rakkoo jalaa baasee,
 ijoollee abba'aa fi haadha hin qannelle qarqaareera.
- ¹³ Worri du'iisaaf dhikaate na eebbiseera;
 qarqaarsi ani godhe,
 gadhaa haadhotii hiyyeessaa gammachiiseera.
- ¹⁴ Ani balchummaa akka woya'aa uffadhe;
 muraa dhuga'aalle akka geella'aa uffadhee,
 akka marata mata'aalle maradhe.
- ¹⁵ Ani worra balla'aaf ila,
 worra naafafille miila te'eeraayyu.
- ¹⁶ Ani hiyyeeyyi'iif akka abba'aa te'ee,
 alaga'aafille wobii te'eeraayyu.
- ¹⁷ Ani a'oo nama hama'aa cassee,
 waan inni butatelle afaan isaa irraa buuseera.
- ¹⁸ «Achiin duuba ani,
 «Barri kiyya akka maansaa bacatee,
 manuma kiyya keessatti hin du'a.
- ¹⁹ Ani akka muka hidda gara bisaanii yaafatee,
 halkan guutuulle fixeensi damee isaa irra jiruu ti.
- ²⁰ Ulfinni kiyya yennaa mara haareya te'ee hin jiraata;
 Hunni tiyyalle yennaa mara guubee haareya» jedhe.
- ²¹ «Namooti miidhassanee na caqasane;
 gorsa kiyyalle dhage'iisaaf cadhisane.
- ²² Ani dubbadheen duuba,
 isaan deebi'anee hin dubbanne;
 dubbiin tiyya gurra isaaniititti coxxe.
- ²³ Isaan akka nama bokkeya eegatuu na eegatane;
 akka nama bokkeya furmaataa eegatuu
 afaan ifii bananee dubbii tiyya eegatan.
- ²⁴ Yennaa isaan ifi addii dhabane
 ani isaanitti seeqadhe;
 ifi fuula kiyyaalle isaan jajjabeesse.
- ²⁵ Ani karaa isaaniif filee
 bulchaa isaaniif te'e.
 Akka mooticha loltoota ifii odduu le'uu,
 odduu isaanii le'e.
 Akka nama worra gadde jajjabeessuu,
 isaan jajjabeesse.

30

- 1 «Amma ammoo worri gannaan anaa gadii natti murga;
ani abbootii isaanii saree tika hoolee tiyyaa eeddu woliinuu
akka hin teenneef ta tuffadheeru.
- 2 Hunni isaanii waan dhumatteertuuf
maan naa bayan?
- 3 Dhabaa fi beela irraa ta kaate
goomolee nami keessa hin leene
lafa godduu keessa halkaniin daaqane.
- 4 Isaan baala goomole'ee ka kuraawu guuratane;
hidda muka hadhowuulle nyaatane.
- 5 Isaan kolbaa keessaa ari'amane;
akkuma hattu'utti iyyanu namooti isaanitti iyyane.
- 6 Goda bowwaa keessaa
rassaa oddu'uu fi boolla lafa jalaa keessa
le'iis dirqama itti teete.
- 7 Isaan odduu tuse'eetii akka harre'ee baroodane;
badda jalalle'etti wolitti qabamane.
- 8 Isaan worra bu'aa hin qanne, ka maqaa badee
lafa irraa ari'ame.
- 9 «Isaan sirbaan natti murgan;
odduu isaaniitille'etti ka mammaassaa te'eera.
- 10 Isaan na jibbanee na irraa fagaatan;
itti qaani malee fuula kiyyatti tufan.
- 11 Waaqi hunna tiyya laaffisee
waan gad na qabeef,
akka farda bixaalli irraa bu'ee
waan fedhane na godhane.
- 12 Gara midda kiyyaatiin worri nama jeequ ka'e;
isaan miila kiyyaaf tiyyoo afanee
badii naaf qopheessane.
- 13 Isaan karaa natti cufanee
na balleessiisa barbaadan;
nami na qarqaarulle hin jiru.
- 14 Isaan akka lola'aa dalleya kiyya uranee seenane;
waan mara caccassaa natti dhufane.
- 15 Ani guddoo sodaadheera;
ulfinni kiyya akka waan qilleensi fudhateetitti
na irraa haxowameera;
fayyinni kiyya akka duumensaa dabareera.
- 16 «Amma lubbuun tiyya na keessaa bayaarti;
guyyooti farraalle na qabataneeran.
- 17 Halkan lafeen tiyya na bocci;
dhukkubiin na boccu foora naa hin kennitu.
- 18 Waaqi hunna ifii guddo'oon
woyaa tiyya shuntuurachiiseera;
akka woyaa morma dhipho'oo na hudheera.
- 19 Waaqi dhoqqee keessatti na gate;
anille akka buku'uutii fi daadha'a te'e.
- 20 «Ee Waaqa, ani si waammadhe,
ati ammoo naaf hin deebinne.

- Ani dhaabbadhee gara keeti daadimadhe;
 ati ammoo cadhittee na ilaalte.
- 21 Ati gadhaa natti jabaattee
 hunna teeti guddo'oon na miite.
- 22 Ati ol na fuutee qilleensa irra teessitte;
 bubbee keessa asii fi achi na hafarsite.
- 23 Gara du'aa
 addee worri jiru duudiin du'ee itti galutti
 akka ati na geessitu ani hin beeka.
- 24 «Ani akka mana jigee ti;
 eentu deebisee na ijaara ree?
 Adoo ani ijjumaa jigee hin badin
 Waaqi deebisee na hin ijaaruu ree?
- 25 Ani worra rakkateef hin boonnee ree?
 Worra hiyyeeyyi'iifille hin gaddinee ree?
- 26 Yennaa ani waan dansaa barbaadu
 wonni hantuun natti dhutte.
 Yennaa ani ifa eegadhulle
 dukkanti natti dhutte.
- 27 Keessi kiyya raafamee nageya dhabe;
 guyyuma guyya'aan rakkadhe.
- 28 Nafi adu'uun adoo hin te'in
 gaddaan gurraachowee deema;
 yaa'ii keessatti dhaabbadhee
 qarqaarsaaf iyya.
- 29 Ani namaan adda bayee jeedalaaf obboleessa
 guchi'iif jaala te'eera.
- 30 Gogaan nafa kiyyaa gurraachowee solloqqoye;
 lafeen tiyyalle o'aan gubatte.
- 31 Kiraarri kiyya guddichi bowaaf
 suusulleen tiyyalle worwaanataaf teete.

31

- 1 «Ani ila halcha'aatiin gara durraa akka hin ilaalle
 ila tiyya woliin gondoороo gondoорadheera.
- 2 Gubbaa irraa Waaqa biraa qoodi namaa maan?
 Ka waan mara dande'u ka addee oli aantuu jiru biraa
 dhaalli namaa maan?
- 3 Balaan worra hama'aaf
 badiin worra dokonkora hujuufii motii ree?
- 4 Waaqi karaa kiyya hin dhagguu ree?
 Tarkaaffii tiyya duudiille hin laakkowuu ree?
- 5 «Sobaan yoo deemee jiraadhe
 miilli kiyya sobiisaaf yoo ariifatee jiraate,
- 6 akka ani komii hin qanne akka beeku
 Waaqi kiiloo sirri'iitiin na madaaluu ti.
- 7 Faanti tiyya karaa irraa yoo gortee jiraatte
 gadhaan kiyya waan ilti tiyya dhaggitee
 yoo hordofee jiraate
 harki kiyyalle cubbu'uun yoo battowee jiraate,
- 8 waan ani facaase nami dhibiin nyaatuu ti;

midhaan kiyya duudiille buqqa'ee baduu ti.

- ⁹ «Gadhaan kiyya dubarti'iin sossobamee,
balbala ollaa kiyyaa duratti riphee
haadha manaa isaa eegadhee yoo jiraadhe,
¹⁰ haati manaa tiyya
nama dhibi'iif midhaan daattuu ti;
nami dhibiille isii woliin rafuu ti.
- ¹¹ Wonni kun yakkaa guddoo
seera duratti adabbii namatti fiddu.
- ¹² Cubbuun tun akka ibiddaa guddee balleessiti;
ani adoo tana godhee jiraadhe
karra tiyya mara hin balleessitiyyu.
- ¹³ «Tajaajiltooti tiyya ta dhiiraatii fi ta durraa
natti iyyatanuun,
iyyata isaanii dhage'iisa yoo dhabee jiraadhe,
¹⁴ yennaa Waaqi mura'aaf ka'u
ani maan godhu'uu jira ree?
Yennaa inni na gaafatu
ani maan deebisu'uu jira ree?
- ¹⁵ Gadaamessa haadha tiyyaa keessatti na dadee,
tajaajiltoota tiyyalle ka dade isaa motii ree?
Nu mara gadaamessa keessatti ka dade
isumaa motii ree?
- ¹⁶ «Waan Hiyyeeyyiin halchite
ijjumaa dhooggadhee hin beeku;
haadhotii hiyyeessaalle jajjabeessiisa hin lakkinne.
- ¹⁷ Ijoollee haadhaa fi abbaa hin qanne beelottuun
sagalee tiyya qofi hin nyaanne.
- ¹⁸ Ammoo dargaggummaa tiyyaa jalqabee
akka abba'aa isaaniif te'eera;
bara jiruu tiyyaa mara
haadhotii hiyyeessaa qarqaareera.
- ¹⁹ Nama daare tokko
yookiin hiyyeessa qullaa jiru tokko dhaggee,
²⁰ woyaa rifeensa hoolee tiyyaa irraa hujante,
itti uffiseeruun o'ifatee
yennaan inni na hin eebbisin hin jirtu.
- ²¹ Kora mura'aa duratti
fudhatama dhaggatiisa kiyya beekke
ijoollee hadhaa fi abbaa hin qanne
yoo miidhee jiraadhe,
²² harki kiyya gurmuu tiyya irra buqqa'u;
mitikaan harka kiyyaalle caccabu.
- ²³ Badii Waaqi na irratti fidu waan sodaadheef,
sodaachisuu arnya isaa irraa ta kaate
waan akkasii godhuu hin dandeenne.
- ²⁴ «Ani worqi'itti addii godhadhee hin beeku;
yookiin worqii qulluulle'etti hin addanne.
- ²⁵ Karri tiyya guddoo waan teeteef,

- yookiin durummaan tiyya waan bacatteef
 gammaddee yoo jiraadhe,
²⁶ ifa adu'uu, yookiin ji'a ulfinnaan deemu
 ilaalee yoo jiraadhe,
²⁷ gadhaan kiyya dhossa'aan sobamee,
 ifa adu'uutii fi dansummaa ji'aatiif
 harka kiyya sunqatiisaan
 isaan waaqonfadhee yoo jiraadhe,
²⁸ ani Waaqa ol-aana'aaf addatamuu waan dhabeef,
 tun cubbuu du'a namatti mursiittu.
- ²⁹ «Ani badii worra na jibbuutitti hin ilillinne;
 hantuun yennaa isaan dhaqqaddelle
 ani hin gammanne.
- ³⁰ Jiruun diina kiyyaa akka baddu abaaree,
 afaan kiyya cubbuu akka dubbatu hin goone.
- ³¹ Nami mana kiyyaa
 «Sagalee isaa nyaatee ka hin quufin eentu jira?»
 jedhan.
- ³² Ani worra karaa deemuuf
 balbala tiyya waan baneef
 keessummaan karaa keessa hin bulle.
- ³³ Ani yakkaa tiyya gadhaa kiyya keessatti dhoffadhee,
 akka worra dhibi'ii cubbuu tiyya hin gollanne.
- ³⁴ Kolbaa bindillaa sodaatiisaan
 tuffiin maati'ii na bararassitee
 mana keessaa adoo hin bayin
 cadhisee mana keessa hin teenne.
- ³⁵ «Maalo'o, nama naa dhage'u adoo qabaadhe!
 Akka dhugaa dubbadhe mudhisiisaaf
 mallattoon tiyya kunoo ti.
- Waaqi waan mara dande'u naaf deebisuu ti;
 Ka na himatu himata ifii tarre'een barreeffatee
 adoo hin dhikeeffatuu!
- ³⁶ Silaa ani dhugumaan himata san
 gormuu tiyya irratti hin kaafadhaayyu;
 akka kallachaalle mataa kiyya irratti hin keyadhaayyu.
- ³⁷ Ani laakkossa tarkaaffii tiyyaa duudii isatti hima;
 akka soossa guddaa tokkoolle isatti dhikaadha.
- ³⁸ «Worra lafa qabu cunqursee
 lafa isaaniille hunnaan fudhadhee qotee yoo jiraadhe,
³⁹ midhaan isaanii kaffaltii malee nyaadhee,
 akka isaan du'anu godhee yoo jiraadhe,
⁴⁰ lafa san irratti addee qamadi'ii qoreen
 addee garbu'uu jigidaan ajowu latuu ti» jedhe.
 Dubbiin Iyoobii as irratti dhumatte.

32

Eliihuun Jaalota Iyoobii Xixe
 (32:1–37:24)

¹ Iyoob, «Ani nama balcha'a» waan ifiin jedheef, jarri tun sadiin deebii isaaf deebisuu lakkisane.

² Eliihuun ilmi Baaraakelii Buzichaa ka maatii Raamii te'e, sababa Iyoob Waaqa caalaa ifi balchoonseef guddoo aare.

³ Jaaloti Iyoobii sadiin deebii quussitu Iyoobiif waan hin deebisiiniif, deebiin isaanii tun akka Waaqi dokonkora hujeeru waan gooteef, Eliihuun isaan irralle'etti aare.

⁴ Isaan duudiin angafoota isaa waan te'aneef, haga isaan dubbatanee fixatanutti, Eliihuun Iyoobitti dubbatiisaaf eegateeyyu.

⁵ Afaan jara sadiinii tana keessa deebiin akka hin jirre yennaa dhagge, Eliihuun aare.

⁶ Maarre Eliihuun ilmi Baaraakelii Buzichaa deebisee,
«Ani ijoolle'e;

isin nama gugurda'a;

tanaaf sodaadhee waan beeku himiisaaf isinitti hin gamne.

⁷ Ani, «Nami gugurdaa qara dubbatuu ti;

qarummaa bara heddu'utti dhaggatane barsiisanuu ti» jedhe.

⁸ Ammoo ka nama keessa bulee hubantii namaaf kennu

ayyaana Waaqa waan mara dande'uu ti.

⁹ Qarummaan guddatane'eefii moti;

waan sirrii te'e hubatiisille dulloomane'eefii moti.

¹⁰ «Tanaaf na caqasa'a;

anille waan beeku isinitti hima.

¹¹ Kunoo, ani haga isin dubbatanee fixxanu eegadhe;

jechoota filataa yennaa dubbattanu

miidhassee caqase.

¹² Ani akka dansaa isin caqase;

ammoo isin keessaa nami tokkolle

balleessaa Iyoobii mirkaneessee

dubbii isaatiif deebii ka kenne hin jiru.

¹³ Isin, «Nuuti qarummaa dhagganneerra;

ka Iyoobiif deebii kennu

Waaqa malee namaa moti» hin jedhina'a.

¹⁴ Iyoob isin morme malee na hin mormine;

anille moromaa akka keessaniitiin isaaf hin deebisu.

¹⁵ «Isaan rifatane waan deebisanu dhabanee

dubbiin isaan duraa badde.

¹⁶ Kunoo, sababa isaan hin dubbanneef,

waan isaan deebii deebisanu dhabanee dhaabbataneef

ani isaan eeguu qabaa ree?

¹⁷ Anille deebii tiyya hin deebisa;

waan beekulle hin mudhisa.

¹⁸ Ani waan dubbadhu hedduu waan qabuuf,

cadhisuu hin dande'u.

¹⁹ Keessi kiyya daadhii woyni'ii ta cuqqaalantee,

akka qalqalluu daadhii woyni'ii haareyaa

ka dho'iisa geyee ti.

²⁰ Akka furadhuuf dubbatuu qaba;

afaan kiyya banadhee deebii kennuu qaba.

²¹ Ani nama tokkoofille hin rogu;

nama tokkolle hin kukuulu.

²² Ani nama kukuuliisa waan hin beenneef,

silaa ka na dade dafee na balleessaayyu.

33

- ¹ «Iyoob, ammalle waan jedhu dhage'i;
dubbii tiyya duudiille caqasi.
- ² Ani afaan kiyya saaqadhee,
arrabi kiyya dubbatiisaaf qophoweera.
- ³ Dubbiin tiyya
qajeelummaa gadhaa kiyyaa irraa dhutti;
arrabi kiyyalle dhugaa dubbata.
- ⁴ Ayyaanni Waaqaa na dade;
hafuurri Waaqa waan mara dande'uu
jiruu naa kenne.
- ⁵ Yoo dandeette deebii naa kenni;
waan dubbattu qopheeffadhuutii
na dura dhaabbadhu.
- ⁶ Kunoo, ani Waaqa duratti akkuma keeti;
nuuti lamaanuu faara irraa dadanne.
- ⁷ Na sodaatiis si hin bararassin;
harki kiyyalle si hin cunqursu.
- ⁸ «Dhuguma ani si dhage'aaruun dubbatteerta;
jecha afaan keeti keessaa bayelle dhage'eera.
- ⁹ Ati yennaa dubbattu, «Ani qulqullu'u,
cubbuulle hin qabu;
ani qullu'u,
yakkaalle hin qabu.
- ¹⁰ Waaqi na adabiisaaf sababa na irratti barbaada;
akka diina ifille na laakkowa.
- ¹¹ Inni miila kiyya jirma odduu galchee,
tarkaaffii tiyya duudii eega» jetta.
- ¹² «Waaqi nama duudii waan caaluuf,
ani ammoo tana irratti
akka ati sirrii hin te'in sitti hima.
- ¹³ Ati, «Waaqi iyyata namaa hin dhage'u» jettee,
maaf isa aalatta?
- ¹⁴ Nami hin hubatu malee,
Waaqi karaa adda addaatiin dubbata.
- ¹⁵ Namooti taqee ifii irra rafaneeranuun,
hirriibi hamaan isaan yennaa qabu
Waaqi oojju'uun, mudhii halkaniitiin dubbata.
- ¹⁶ Yennaa san inni gurra isaaniititti hin dubbata;
ifi eeggachiisiisalle'een isaan bararassa.
- ¹⁷ Akka kanaan hujii hantuu irraa isaan deebisa;
akka hin koorrelle isaan eega.
- ¹⁸ Lubbuu isaanii boolla irraa,
jiruu isaaniille badii shallaaga'aa irraa hin hambura.
- ¹⁹ Yookiin akka nami taqee ifii gubba'atti dhukkubaan,
dhukkuba hamaa ka yennaa mara lafee isaa bocuun
akka adabamu hin godha.
- ²⁰ Maarre jiruun isaa waan nyaataa,

- gadhaan isaalle sagalee guddoo dansa'aayyuu hin diqata.
- ²¹ Foon isaa dhumatee,
lafeen isaa ta dur hin mudhanne yaatee mudhatti.
- ²² Lubbuun isaa gara boollaattitti
jiruun isaa gara ergantoota du'aa dhikaatteerti.
- ²³ «Karaa sirri'ii ka namaaf mudhisanu,
ergantoota Waaqaa kuma keessaa tokkochi
gara isaa dhufee isa hin qarqaara fa'a te'a.
- ²⁴ Ergamaan Waaqaalle isaaf mararee,
«Ani wodoo isaaf dhaggeera;
akka inni gara boollaa gad hin buune godhi» jedhee du'a ajaja.
- ²⁵ Achiin duuba nafi isaa deebi'ee
akka nafa ijoolle'ee haareffama;
akka yennaa dargaggumma'aalle te'a.
- ²⁶ Inni Waaqa daadimata;
daadimata isaalle Waaqi hin dhage'a.
Inni fuula Waaqaa dhaggee hin ilillisa;
Waaqille gara addee balchummaa isaattitti
isa hin deebisa.
- ²⁷ Innille namoota duratti faarfataa,
«Ani cubbuu hujjeera;
waan sirrii te'e daddasseera;
Waaqi ammoo yakkaa tiyya natti hin laakkonne.
- ²⁸ Inni lubbuun tiyya gara boolla awwaalaa akka hin buune wodeera;
jiruun tiyyalle ifa hin dhaggiti» jedha.
- ²⁹ «Kunoo, Waaqi deddeebisee
tana mara namaaf hin godha.
- ³⁰ Inni ifa jiru'uu akka dhagguuf
lubbuu namaa deebisee boolla keessaa hin baasa.
- ³¹ «Iyoob, waan ani sitti himu akka dansaa caqasi;
ani hin dubbadha, ati cadhis.
- ³² Waan jettu yoo qabaatte naa deebis,
ani waan bilisa si baasuuf dubbadhu.
- ³³ Yoo waan jettu hin qabaatin,
cadhisii na caqasi;
anille qarummaa si barsiisa» jedhe.

34

- ¹ Eliihuun ammalle dubbatee,
- ² «Isin namoota qaro'o,
dubbii tiyya dhage'a'a;
isin worri beekkoleen na caqasa'a.
- ³ Akkuma arrabi mi'aa sagale'ee beeku
gurrille mi'aa dubbi'ii beeka.
- ⁴ Kowa'a waan sirrii te'e filanna;
waan dansaalle woliin baranna.
- ⁵ «Iyoob ifiin, «Ani yakkaa hin qabu;
Waaqi ammoo haqa na dhooggate.
- ⁶ Ani adoo dhugaa irra jiruu
akka dharaamessaa laakkowame;

- adoo yakkaa hin qabaatin
madaa hin fayyineen farriisatti jira» jedheera.
- ⁷ Nama attamiititti akka Iyoobii
murgoo akka bisaanii una ree?
- ⁸ Inni worra hantuu godhu woliin jaaloma;
worra hamaaleyyii wolille'een oola.
- ⁹ Inni, «Waaqa gammachiisuun
womaa namaaf hin baatu» jedha.
- ¹⁰ «Tanaaf isin worri hubattanu na caqasa'a!
Hantuu godhiis Waaqa irraa
dokonkora hujiisille
Waaqa waan mara dande'u irraa fagaatuu ti.
- ¹¹ Waaqi akka hujii namaatitti namaaf hin kaffala;
akkuma ideensa isaatitti
akka inni dhaggatu hin godha.
- ¹² Waaqi waan mara dande'u hantuu hin huju;
inni haqa hin dassu.
- ¹³ Lafa irratti eentu ajajaa isa godhe?
Biyya lafaa duudii irratti
eentu itti gaafatamaa isa godhe?
- ¹⁴ Waaqi ayyaana ifii deebisee yoo fudhate,
hafuura ifille gara ifii yoo deebifate,
¹⁵ sanyiin namaa duudiin adduma tokko baddee
gara biyye'ee deebiti.
- ¹⁶ «Nama hubatu yoo teete tana dhage'i;
waan ani jedhulle caqasi.
- ¹⁷ Nami haqa jibbu bulchuu dande'aa ree?
Ati Waaqa! Balchichaa fi hunnaamessatti
yakkaa itti murtaa ree?
- ¹⁸ Mootichaan, «Ati woy hin baatu»,
qondaaltotaan, «Isin worra hamaaleyyi'ii»
ka jedhu eennu?
- ¹⁹ Isaan duudiin hujii harka isaa waan te'aneef,
inni qondaaltotaaf hin rogu;
dureessa hiyyeessa irra caalchisee hin ilaalu.
- ²⁰ Namooti halkan wodhakkaa dedhuma du'uu dande'an;
kolbaan raafantee dhumatti;
worri hunnaameyyiin
harki namaalle adoo isaan hin tuqin hin badan.
- ²¹ «Itti Waaqaa ideensa namaa ilaalti;
inni tarkaaffii nama tokko tokkoolle hin dhagga.
- ²² Dimimmis yookiin dukkanti dimmi
addeen worri hantuu huju itti dhokatu hin jirtu.
- ²³ Waaqi fuula isaa duratti mura'aaf akka dhikaatanu
beellama hin qabatu.
- ²⁴ Inni qorqortii malee hunnaameyyii baallii irraa kaasee,
worra dhibii addee isaanii buusa.
- ²⁵ Inni hujii isaanii mara waan beekuuf,
halkan tokkotti baallii irraa isaan kaasee balleessa.

- 26 Inni addee nami duudiin dhaggutti
hammeenna isaaniitiif isaan adaba.
- 27 Sababa isaan isa hordofuu lakkisane,
isaaf ajajamuu dhabaneef inni tana godhe.
- 28 Iyyi worra hiyyeeyyi'ii
gara Waaqaa akka dhaxxu godhaneeran;
Waaqille iyya isaanii dhage'eera.
- 29 Yoo inni cadhise ammoo
eentu isatti mura;
yoo inni fuula ifii dhoffate
eentu isa dhagguu dande'a ree?
Inni nama irratti, gosa biyya adda addaa irralle'etti,
30 worra kolbaa gowwisiisanu keessaa
nama Waaqa malee jiraatu tokko mootii yoo godhe
eentu isa dhoogga ree?.
- 31 «Nami tokko Waaqaan, «Ani yakkaamessa;
ammoo deebi'ee hin yakku.
- 32 Waan ani hin dhaggine ati na barsiisi;
yoo yakkee jiraadhe deebi'ee hin yakku» jedhe jiraa ree?.
- 33 Ati cubbuu irraa deebi'iisa didartaartuun
Waaqi akka yaada keetii deebisaa ree?
San sittuu filata malee anaa moti;
tanaaf waan beettu natti himi.
- 34 «Worri hubatuu,
worri qaroon na dhage'ulle anaan,
- 35 «Iyoob beekkumsa malee dubbata;
dubbiin isaalle ta gatii hin qanne» hin jedhan.
- 36 Deebiin Iyobii ta akka worra hamootaa waan teeteef
Inni haga dhumaatitti
qoramee adoo hin ilaallamuu!
- 37 Inni cubbuu ifii irratti finqila ede'a;
inni odduu teenna tee'ee tuffi'iin harka dhowaa
dubbii moromaa ifii Waaqa irratti fakkansa» jedhe.

35

- 1 Eliihuun itti dabalee,
2 «Iyoobiin ati, «Waaqa duratti ani balcha'a»
jechuun keeti sirri'ii?
- 3 Ati Waaqaan, «Ani cubbuu yoo hujuu dhabe ati maan dhaggatta?
Ani bu'aa maan dhaggadha ree?» jette.
- 4 «Amma ani si'ii fi jaalota teetii ta si woliin jirtuuf
deebii hin kenna.
- 5 Ol jedhii gara ol-gubba'aa ilaal!
Duumensa si'iin gubba'atti mudhatu hubadhu.
- 6 Ati cubbuu yoo hujje Waaqa maaniin miita?
Balleessaan teeti yoo bacatte maan isa goota?
- 7 Ati balchaa yoo teete isaaf maan kennita?
Yookiin inni harka keeti irraa maan fudhata?
- 8 Hammeenni keeti nama akka keetii hin miidha;
balchummaan teetille ilmaan namaa calla'aaf bu'aa qaddi.

- ⁹ «Sababa cunqurfamiisi bacateef
kolbaan hin iyyiti;
harka hunnaamessaa jalaa bayiisaaf
qarqaarsa dhaggatiisaaf iyyatan.
- ¹⁰ Ammoo eennulle, «Waaqi na dade,
yennaa rakkoo guddo'oo
nami akka isa faarfatu ka godhu,
¹¹ ka bineensota lafaa caalaa nu barsiisu,
ka sinbirroota caalaa nu qaroonsu eessa jira?» hin jedhu.
- ¹² Isaan hin iyyan;
inni ammoo sababa koora worra hantuu godhuutiif
deebii isaanii hin deebisu.
- ¹³ Dhugumaan Waaqi iyyata bu'aa hin qanne hin dhage'u;
Waaqi waan mara dande'ulle
gara iyya isaanii hin midhatu.
- ¹⁴ Iyob ati, «Ani Waaqa hin dhaggu» yennaa jettu,
inni attam iyya teeti dhage'a ree?
Haajaan keeti isa dura jira,
isuma eegadhu.
- ¹⁵ Waaqi aarii ifitiin ka hin adanne,
hammeenna namaalle itti ilaalaa ka taru seetaa?
- ¹⁶ Iyob ati, dubbii bu'aa hin qanne dubbatta;
beekkumsa maleelle dubbii fakkansita» jedhe.

36

- ¹ Eliihuun ammalle ede'ee Iyoobiin,
- ² «Ani ammalle marroo Waaqaatiif
waan dubbadhu waan qabuuf,
diqqoo naa ossadhu.
- ³ Ani beekkumsa kiyya fagoo irraa hin fida;
Waaqi na dade balchaa akka te'e
ani hin mudhisa.
- ⁴ Dhugumaan dubbiin tiyya dharaa moti;
ani nami si woliin jiru
beekkumsa dhidhinna hin qanne akka qabu beeki.
- ⁵ «Dhugumaan Waaqi hunnaamessa;
Inni eennulle hin tuffatu;
hunni hubantii isaa guddoo jaddu'u.
- ⁶ Inni worra hamaa jiru'uun hin leesisu;
worra cunqurfameef ammoo haqa isaanii hin kenna.
- ⁷ Inni ila ifii balchoota irraa hin kaasu;
mootota woliin
barcumaa mootumma'aa irra isaan hin teessisa;
haga bara baralle ol ol isaan hin qaba.
- ⁸ Namooti wodaroo sibiilaatiin yoo hidhamane
yookiin wodaroo rakkinnaatiin yoo qabamane,
⁹ balleessaa isaan koora ifitiin hujane
inni isaanitti hima.
- ¹⁰ Qajeelfama akka dhage'anuuf
gurra isaanii hin bana;
cubbuu ifii irralle'ee akka deebi'anuuf
isaan hin ajaja.

- 11 Isaan Waaqaaf ajajamanee isa yoo tajaajilane
bara isaanii ka hafe
durumma'aa fi gammadaan fixatan.
- 12 Isa dhage'uu yoo didane ammoo,
shallaaga'aan hin badan;
Waaqa beekiisa waan didaneef hin du'an.
- 13 «Worri Waaqa malee le'u
aarii gadha'atti qabatan;
yennaa inni isaan adabulle
qarqaarsa dhaggatiisaaf hin daadimatanu.
- 14 Isaan dhiira Galma Waaqaa keessatti
wol bukkoonsitu oddu'utti
ijoollumma'aanuu du'an.
- 15 Waaqi worra rakkatanu rakkoo keessaa hin baasa;
inni akka isaan rakkatanu godhaa isaan barsiisa.
- 16 «Inni ammalle farra hantuu keessaa,
gara addee badhoo wol rakkisuun hin jiretti si baasa;
qoriin teetille sagalee dansa'aan hin guutanti.
- 17 Amma ammoo muraan nama hama'aaf malte
waan sitti muranteef,
adabbii si'iif malte fudhatiisatti jirta.
- 18 Eennulle durumma'aan akka si hin sonne,
Safuu* guddoolle'een akka hin sobanne ifi eegadhu.
- 19 Karri teeti yookiin jabeenni hunna teetii
rakkinna hamaa keessaa si baasuu dande'anii ree?
- 20 Ati halkan kolbaan addee ifii irraa baddu
akka dhufu hin halchin.
- 21 Farriisaan irra hantuu hujiisa waan filatteef,
gara hammeennaa akka hin deebine ifi eegadhu.
- 22 «Kunoo, Waaqi hunna ifitiin ol ol jedheera;
barsiisaan akka isaa eennu ree?
- 23 Waan Waaqi huju eentu itti himuu dande'a?
yookiin eentu, «Ati dokonkorteerta» isaan jedha ree?
- 24 Hujii isaa ta nami faaru'uun leellifatu
atile akka leellifattu yaadadhu.
- 25 Nami duudiin hujii isaa dhaggeera;
nami martinuu fagoo irraa daaw'ata.
- 26 Dhugumaan Waaqi gudda'a;
inni hubantii teennaan oli;
laakkossi bara isaalle qorqoramuu hin dande'u.
- 27 «Bisaan lafa irraa ol fuudhee
gara cophu bokkeyaa ka deebisu Waaqa.
- 28 Inni bokkeya duumensa keessaa gad hin roobisiisa;
namoota irralle'etti hin danbalaasa.
- 29 Inni attam akka duumensa diriirsu
galma guddaa ifii keessaa attam akka mandi'u
eentu hubatuu dande'a ree?
- 30 Kunoo, Waaqi adaala ifiititti
balaqqeettii attam akka bittinneessu

* 36:18 Safuu: Malaamaltummaa jechu'u.

- hundee abbaaya'aalle dukkanaa akka gollu ilaali.
³¹ Inni akka kanaan gosa biyya adda addaa bulcha;
 sagalee bacaalle isaaniif kenna.
³² Inni balaqqeettii harkatti qabatee
 lafa itti murteessetti akka dhoottu hin ajaja.
³³ Mandiisuun bokkeenni bubbe'ee akka dhufaaru beessitti;
 horiille dhufiisa isi'ii hin beekan.

37

- ¹ «Bokkeenni bubbe'ee sun
 gadhaa kiyya hollachiisee, sheephisiise.
² Qoonqoo isaa ta akka mandiisu'uu,
 gungunsuu afaan isaa keessaa baatulle caqasa'a.
³ Inni gubba'aan jala duudi'itti
 balaqqeettii ifii haga qaccee lafaatitti gad lakkisa.
⁴ Achiin duuba hargiis qoonqoo isaa hin dhage'anti;
 inni qoonqoo ifii ta sodaachittu
 akka mandiisu'uu hin dhageessisa;
 yennaa qoonqoo ifii dhageessisu
 balaqqeettiille duubatti hin hamburu.
⁵ Waaqi qoonqoo ifii ta bilbaasaatiin hin mandi'a;
 waan gugurdoo hubantii teennaan olii hin huja.
⁶ Inni dhakaa bokkeyaatiin, «Lafa irratti bu'i»,
 tiifuu bokkeyaatiille'een, «Bokkeya jabaa te'i» hin jedha.
⁷ Nami inni dade duudiin hujii isaa beekuuf,
 nami martinuu hujii ifii akka dhaabu hin godha.
⁸ Yennaa san bineensoti
 gara goda ifii keessatti hin qubatan;
 mandhee ifii keessalle'etti dhokatan.
⁹ Hobonbolattiin gara kibbaatii hin dhutti;
 qilleensi boojji'ii gara kaabaatii dhufa.
¹⁰ Hafuurri Waaqaa dhakaa bokkeyaa fida;
 bisaan badhaalle ititee dhakaa bokkeyaa te'a.
¹¹ Inni duumensi akka bisaan ba'atu hin godha;
 balaqqeettii ifille duumensa keessaa balaqqisiisa.
¹² Duumensi waan inni ajaje muummessiisaaf,
 qajeelcha isaatiin lafa duudii irra
 asii fi achi mara.
¹³ Waaqi namoota adabiisaaf
 lafa ifii jiisiisaaf
 yookiin jaalala ifii mudhisiisaaf bokkeya fida.
¹⁴ «Iyoob, tana dhage'i;
 me lakkisiitii hujii Waaqaa ta maade'ee
 yaadaan hubadhu.
¹⁵ Waaqi duumensa attam akka toowatu
 balaqqeettii duumensa ifille
 attam akka balaqqisiisu ati hin beettaa?
¹⁶ Duumensa gubba'atti ka rarraasuu fi
 hujii maade'ee tana
 ta Waaqa beekkumsa dhidhuu hin qannee hin beettaa?
¹⁷ Yennaa latti qilleensa gara kibbaatiin o'itee,

ati ka woayaan teeti keessatti fuurtu,
 18 ol-gubbaa akka daaw'itii
 sageettuu baqisiifante irraa hujantee jabaattu,
 yennaa Waaqi diriirsu ati isa qarqaaruu dandeettaa?

- 19 «Waan Waaqaan jennu nutti himi;
 nuuti womaa waan hin beenneef
 haajaa keenaa dhikeeffatiisa hin dandeennu.
 20 Akka ani dubbatu'uu jiru
 nami isatti himiisa barbaachisaa ree?
 Nami tana dubbatiisaaf yaadu dhuguma hin bada.
 21 Qilleensi duumensa haxowee
 gubbaa irraa qulqulleeseen duuba,
 nami tokkolle aduu midhatee ilaalu hin dande'u.
 22 Inni ulfinna akka worqi'ii calalaquun
 gara kaabaatiin hin dhufa;
 Waaqi arnya sodaachisa'aan hin dhufa.
 23 Waaqi waan mara dande'u hubantii teennaan ol;
 hunnaan gudda'a;
 inni abbaa muraa dhuga'aatile'e.
 24 Tanaaf nami marti isa sodaata;
 inni worra ifiin qaroo jedhu hin tuffata» jedhe.

38

Deebii Mootiin Waan Maraa Iyobiiif Deebise

- 1 Achiin duuba Mootiin Waan Maraa hobonbolattii keessaa Iyobitti dub-
 batee,
 2 «Dubbii beekkumsa malee dubbatantuun,
 gorsa kiyya ka diqqeessu kun eennu?
 3 Akka dhiiraa hidha keeti hidhadhu;
 ani si gaafadha; atille naaf deebis.
 4 «Yennaa ani hundee lafaa dhaabe
 ati eessa jirtaayyu?
 Hubantii yoo qabaatte natti himi.
 5 Haga lafaa ka murteesse eennu?
 Isii irralle'etti sarara miki'ii* ka diriirse
 eennu akka te'e hin beettaa?
 6 Hundeen lafaa maan irratti dhaabatte?
 Dhakaa roga isi'iille ka dhaabe eennu?
 7 Yennaa urjooti ganamaa wolitti qabantee faarsitu,
 ergantooti Waaqaalle yennaa ilillittu
 ati eessa jirtaayyu?
 8 «Yennaa abbaayaan lafa keessaa dhoote,
 balbala madda isi'ii ka cufe eennu ree?
 9 Abbaayaa duumensaan uffisee,
 dukkana dimmalle'een ka isii golle ana.
 10 Meessaalle itti godhee,
 balbalaa fi danqaraa ka itti keye ana.
 11 «Ati haga asii hin dhutta; asi irra hin dabartu!

* 38:5 Mikii: Meeshaa miki'iititti fayyadamiisaan haga wonni tokko dheerattu yookiin badhattu beekiis.

Danbaliin teeti jadduun
asitti dhaabbatuu ti!› ka jedhe ana.

- 12 «Iyoob, bara jiruu teetii
latti akka bariitu ajajjee beettaa?
Bariin lafaalle addee akka qabattu gooteertaa?
- 13 Bari'iisi lafaa haga qaccee lafaa dhaqqabee,
worri hamaan akka isii irraa hargufamanu gooteertaa?
- 14 Ifi bari'ii koobotii fi dhooqoti
akka woyaa dachaafantee
dhaabbatanee akka mudhatanu godha;
akka chaappaa faara jiidhaa irratti dhowamee
guddisee mudhisa.
- 15 Worra hamaa ifi isaan duraa fudhatameera;
harki isaan hantuu hujiisaaf ol fudhatanelle cabeera.
- 16 «Ati gara madda abbaaya'aa gad buuteertaa?
Yookiin hundee qilee abbaaya'aa keessa ideenteertaa?
- 17 Balbalti du'aa sitti mudhifanteerti?
Yookiin balbala dukkana dimmaa dhaggiteerta?
- 18 Badhinna biyya lafaa hubatteertaa?
Tana mara yoo beettu teete me natti himi.
- 19 «Karaan gara ifaa geessu meet?
Addeen dukkanti jirtulle eessa?
- 20 Ifaa fi dukkana
addee isaaniititti geessuu hin dandeettaa?
Karaa gara addee isaanii geessu hin beettaa ree?
- 21 Biyyi lafaa yennaa dadante
ati waan dhalatteertuuf dhuguma hin beetta;
bara hedduulle leeteerta.†
- 22 «Ati gara mana dhakaan bokkeyaa itti kuufamu seenteertaa?
Yookiin mana dhakaan bokkeyaa itti kuufamu dhaggiteertaa?
- 23 Dhakaan bokkeyaa kun,
ka ani yennaa rakko'ootiif,
guyyaa woraanaatii fi guyyaa lolaatiifiille maffadhe.
- 24 Karaan gara addee ifi irraa balaqqisu geessu kam?
Yookiin qilleensi gara aduun baatuu
eessa irraa lafatti bittinnowa?
- 25 Bokkeya gad lola'uu fi
bokkeya bubbe'ee ka mandiisu'uutiif
karaa ka baase eennu?
- 26 Lafa nami tokkolle hin leenetti
goomolee nami tokkolle hin jirre keessa,
bokkeya roobisiisee,
27 lafa goomolee duwwaa jiisee,
marra akka baattu ka godhe eennu?
- 28 Abbaan bokkeyaatii fi coph fixeensaa eennu ree?
- 29 Dhakaan bokkeyaa gadaamessa eennuu keessaa baye?

† 38:21 *Yaada laakkossa kanaa:* Wonni as irratti jedhamuu barbaadame, biyyi lafaa yennaa dadantu
ati womaa hin beettuu; bara dheeraalle leetee hin jirtu yaada jedhu.

Qorra‡ ol-gubbaa irraa bu'u eentu dhale?
³⁰ Qorri sun bisaan akka dhaka'aa jabeessee,
 dirri abbaaya'aa akka dhakaa bokkeyaa ite'a.

- ³¹ «Tuuta urjootaa ka, <Torbii§> jedhamanu, wolitti hidhuu,
 yookiin wodaroo tuuta urjoota, <Sadee* > jedhamanuu hiikuu hin dan-
 deettaa?
³² Tuuta urjoota gara kibbaa yennaa isaaniititti bobbaasuu dandeettaa?
 Tuuta urjootaa <Ka bineensa Doobbaa†> jedhamu fakkaatu, ilmaan
 ijoollee isaanii waliin sooressuu dandeettaa?
³³ Ati sirna‡ ol-gubba'aa beettaa?
 Sirni kun lafa irratti akka huju godhuu dandeettaa?
³⁴ «Lolaan bisaanii akka si liqinsuuf,
 qoonqoo ol-qabatee duumensatti dubbatuu dandeettaa?
³⁵ Ati balaqqeettiin akka buutu erguu dandeettaa?
 Isiille si'iin, <Kunoo, ani as jira> hin jettii?
³⁶ Kormi lukku'uu bari'iisa lafaa beekkee akka iyyu,
 yookiin sinbirreen akka mana ijaarrattu
 ka qarummaa kenneef eennu?
³⁷⁻³⁸ Yennaa bukuun lafaa jabaatee wolitti tuulantuu fi
 quqquuqaan lafaa wolitti qabatu,
 duumensa laakkowiisaaf ka qarummaa qabu eennu?
 Waabaa§ bisaanii ta ol-gubba'aa jissee,
 ka bisaan gad naquu dande'u eennu?
³⁹ «Ati neenqa dhala'aaf
 waan nyaatu hin adansitaa ree?
 Yookiin dardaroota neenqaa hin quussitaa ree?
⁴⁰ Yennaa isaan mandhee ifii keessatti riphanu,
 yookiin daggala keessatti
 dhokatane yennaa gaadatanu,
 isaan hin quussitaa?
⁴¹ Yennaa ilmeen harraaqessaa
 waan nyaattu dhaddee daaxxu,
 gara Waaqaalle yennaa boottu
 ka sagalee isi'iif kennu eennu?

39

- ¹ «Yennaa godaan* gaaraa dhalu beettaa?
 Gadansi dhaluun dhaggitee beettaa?
² Ji'a meeqa rimeyaan turanee,
 yoom akka dhalanu hin beettaa?
³ Isaan quphananee dhalan;
 foolata ifii irralle'ee hin furatan.
⁴ Ilmeen isaanii baddaa keessatti guddatee jabaatti;
 bayanee deemanen duuba,

‡ **38:29** Qorra: Yookiin boojjii jedhama. § **38:31** Torbii: Hiikkaan gariin Piliyaadis jedhan. * **38:31**
 Sadee: Hiikkaan gariin Ooriyoona jedhan. † **38:32** Doobbaa: Bineensa Iyyaa fakkaatu. ‡ **38:33**
 Sirna: Yookiin sirinya jedhama. § **38:37-38** Waabaa bisaanii: Yookiin okkotee bisaanii guddittii
 jedhamuu dande'a. * **39:1** Godaan gaaraa: Bineensa re'ee fakkaatu ka gaara irra le'u.

gara haadha ifii hin deebi'anuu.

- ⁵ «Harreen diidaa gara feete akka deentu
ka lakkise eennu?
Hidhaana irraa ka isii hiike eennu?
- ⁶ Ani lafa goomole'ee mana isaanii,
dirree sooddaalle
addee isaan le'anuu godhee kenneef.
- ⁷ Isaan qachaa hoga'aa irraa fagaatanee le'an;
nami isaan leenjisee hujisiisulle hin jiru.
- ⁸ Isaan dheedaaf gaarotatti bobba'an;
waan magariisa[†] mara barbaadatan.
- ⁹ «Gafarsi si tajaajiliisaaf fedhii hin qabaataa?
Moonaa teeti keessalle hin bulaa?
- ¹⁰ Gafarsa waanjoo itti hiitee
moofara harkisaa akka qotu godhuu dandeettaa?
- ¹¹ Jabeenni isaa guddaa waan te'eef
isatti hin addattaa?
Hujii teeti ulfaattuu isatti hin lakkittaa?
- ¹² Inni midhaan keeti wolitti qabee
gara eeddummee teetii akka si'iif fidu hin addattaa?
- ¹³ «Guchiin gammadaan koola ifii hargufatti;
koollii isi'ii ammoo akka koola qonga'aatii moti.
- ¹⁴ Guchiin quuphaa ifii lafatti buutti;
biyyeen akka itti o'ituufille achumatti lakkitti.
- ¹⁵ Isiin miilli akka caccassu,
bineensotille akka irra ijatanu hin yaadattu.
- ¹⁶ Akka waan ta isi'ii hin te'inii,
cuucuu ifiititti gadhaa jabaatti;
eloon isi'ii baddulle hin qortu.
- ¹⁷ Ka qarummaa isii dhoogge,
ka hubantiille isi'iif hin kennin ana Waaqa.
- ¹⁸ Yennaa rukkiisa jalqaddu
fardaa fi abbaa fardaattitti hin kolliti.
- ¹⁹ «Iyoob, fardaaf jabeenna ka kenne si'ii?
Yookiin morma isaatitti
gama[‡] dhedheeraa ka uffise si'ii?
- ²⁰ Akka korophiisaa kuruphisaa fooqqisaa
akka inni nama bararassu ka godhu si'ii?
- ²¹ Fardi jabeenna ifiititti addatiisaan
kotte'een lafa qotaa himimmisee,
liiisaaf hin baya.
- ²² Inni soda'atti kolla; womaa hin sodaatu;
shallaagaa irralle'ee duubatti hin deebi'u.
- ²³ Eboon balaqqittuu fi marcaan
subba daayaa waliin
cinaacha isaatitti bubbu'ee qilillisa.
- ²⁴ Fardi hollatee worraaqatee xinniga;

[†] **39:8** *Magariisa*: Yookiin kushaankusha. [‡] **39:19** *Gama*: Gami rifeensa dheeraa lumma fardaa irratti latu.

- yennaa tultullaan afuufamu hin sawwaanata.
²⁵ Inni yennaa tultullaan afuufamu hin fooqqisa;
 dhaadata abbootii duulaa,
 hoga'aa fi lola fago'ottuu foolee fuudha.
²⁶ «Cululleen qarummaa teetiin koolaan kaatee
 gara kibbaatitti koola ifii badhifattii?
²⁷ Risaan ajaja keetiin gubbaa irra ka'aa?
 Allaattiin ajaja keetiin
 mana ifii gaara irratti ijaarrattii?
²⁸ Isiin rassaa ol ka'e irra le'aa
 achitti mana ijaarratti;
 rasaan sun kushee isi'ii ti.
²⁹ Isiin achi jiraatee waan nyaattu dooyatti;
 ilti isi'iille fago'otti waan gaadattu dhaggiti.
³⁰ Ilmeen isi'ii dhiiga xuuxatti;
 isiille addee raqi jirutti dhagganti» jedhe.

40

- ¹ Ammalle Mootiin Waan Maraa Iyoobiin,
² «Nami ana Waaqa waan mara dande'u morkee
 hin sirreessaa ree?
 Ka Waaqa moromu deebii kennuu ti» jedhe.

Iyoob

- ³ Achiin duuba Iyoob deebisee Mootii Waan Maraatiin,
⁴ «Kunoo ani nami woy hin baane;
 afaan kiyya qabatiisa malee,
 maan si'iif deebisa ree?
⁵ Ani takkaa dubbadheera,
 waan deebisu hin qabu;
 lammeessoolle dubbadheera,
 haganaa achi itti hin dabalu» jedhe.
⁶ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa hobonbolattii keessaa Iyoobitti dub-
 batee,
⁷ «Akka dhiiraa hidha keeti hidhadhu;
 ani si gaafadha;
 atille naaf deebis.
⁸ «Ati anaayyuu dokonkora keessa galchitaa?
 Ati balchaa ifi godhiisaaf yakkaa natti murtaa?
⁹ Ati hunna akka hunna tiyyaa qaddaa?
 Qoonqoon teetille akka qoonqoo tiyyaa hin mandiitii?
¹⁰ Arnyaa fi guddinnaan ifi kuuladhu;
 ulfinnaa fi fudhatama dhaggatiisa uffadhu.
¹¹ Worra kooru ilaaliitii qaanessi;
 aarii teetille isaan irratti dhangalaas.
¹² Worra kooru duudii gad qabi;
 worra hamoota lafa isaan dhaabbatanetti butuchi.
¹³ Fuula isaan mariitii
 biyya lafaa ta jalaatitti
 mara isaaniituu wolumatti awwaali.
¹⁴ Achiin duuba akka ati hunnuma teetiin injifattu,
 anille dhugaa si'iif hin baya.

- 15 «Roophii ta ani akkuma si dade, isiille dade ilaali;
isiin akkuma qotiyyo'oo marra dheeddi.
- 16 Jabeenni isi'ii hidha isi'ii keessa,
hunni isi'ii morgeya gadhaa isi'ii keessa jirti.
- 17 Eegeen isi'ii akka hindheensaa sooti'i;
morgey miila isi'iille jaba'a.
- 18 Lafeen isi'ii akka ujjumme sageettu'uu ti;
harkii fi miilli isi'ii akka ulee sibiilaa ti.
- 19 Isiin dada ani dade duudii keessaa ta qaraa* ti;
ana malee ka isii injifatu hin jiru.
- 20 Gaaroti bineensoti duudiin irra burraaqanu,
marra isiin dheeddu baasaniif.
- 21 Isiin haxanxarii qore'ee† jala ciittee,
caffaa‡ keessa
odduu alladdu'utitti dhokatti.
- 22 Haxanxariin qore'ee gaaddisa ifitiin isii golliti;
muki olaati'iille isii hin marsa.
- 23 Yennaa lagi guutee danbala'u hin sodaattu;
lagi Yordaanosii guutulle hin rifattu.
- 24 Eennulle adoo ilti roophi'ii dhaggituu isii qabuu,
yookiin malxaqqo'oon funnaan isi'ii uruu dande'a ree?

41

- 1 «Ati bineensa naacha fakkaatu,
ka «Lewaataan» jedhamu malxaqqo'oon qabuu,
yookiin arraba isaa
wodaro'oon hidhuu hin dandeettaa ree?
- 2 Wodaroo funnaan isaa keessa baasuu,
yookiin a'oo isaa malxaqqo'oon woraanuu
hin dandeettaa ree?
- 3 Inni akka ati isaaf marartu si hin kadhataa ree?
Dubbii laattuulle'een sitti hin dubbataa ree?
- 4 Haga bara baraa akka ati garba isa godhattuuf,
woli galtee si woliin hin godhataa ree?
- 5 Akka sinbirree mana barattee
isa woliin taphatuu hin dandeettaa ree?
Yookiin tapha ijoollee durraa teetiitiif
isa hin hiitaa ree?
- 6 Daldaltooti qurxummi'ii gatii isaa irratti
wol hin falmanii ree?
Kukkutaneelle hin goodatanii ree?
- 7 Gogaa isaa ebo'oon,
mataa isaalle marcaa qurxummi'iitiin
uriisa hin dandeettaa ree?
- 8 Harka keetiin yoo isa tuxxe,
lola san hin qaabatta;
ijjumaalle itti hin deebitu.
- 9 Bineensa san lolanee injifatiisaaf wodhaaniis
toluma elowiisa;
nami isa dhaggu sheephisee jiga.

* 40:19 Ta qaraa: jechuun kun yennaa yookiin barbaachisummaa yookiin guddinna isi'ii ilaalu dande'a. † 40:21 Haxanxarii qore'ee: Yookiin hammaroo jedhamuu dande'a. ‡ 40:21 Caffaa: Yookiin raaroo dhogqe'ee.

- 10 Isa kakkaasiisaaf ka itti guulu eega hin jirre teete,
eentu na dura dhaabbatiisa dande'a ree?
- 11 Wonni ol-gubba'aan jala jirtu marti tiyya;
akka ani isaaf deebisee kaffalu
waan tokkolle ka anaa kenneeru hin jiru.
- 12 «Ani marroo harkaa fi miila,
yookiin jabeenna,
yookiin miidhaginna
dhaaba nafa bineensa naacha fakkaatu,
ka «Lewaataan» jedhamuu
dubbadhu malee hin cadhisu.
- 13 Gogaa nafa isaa ka dachaa te'e,
eentu isa irraa quncisuu dande'a?
Eentu bixaalaan isatti dhikaatuu dande'a?
- 14 Balbala afaan isaa ka ilkaan sodaachisu itti naannowe,
eentu banuu dande'a?
- 15 Inni dudda jabaa
akka wontee tarree galtee wolitti maxxanfantee qaba.
- 16 Tokko tokkoon wontee sanii
wol wolitti guddoo waan dhikaataneeranuuf
qilleensi wodhakkaa isaanii dabaruu hin dande'u.
- 17 Isaan wol wolitti waan maxxananeeranuuf,
wol irraa gargar bayuu hin dande'an.
- 18 Yennaa inni haxxifatu ifi hin balaqqisa;
ilti isaa akka boruu dayya'uu ti.
- 19 Afaan isaa keessaa bobbe'a ibiddaatitti baya;
qaangeen ibiddaalle afaan isaa keessaa xoxxi.
- 20 Akkuma aarri okkotee ibidda o'aa irra jirtu keessaa aaru,
aarri funnaan isaa keessaa baya.
- 21 Hafuurri isaa cilee qassiisa;
bobeenni ibiddaalle afaan isaa keessaa baya.
- 22 Jabeenni lumma isaa keessa jira;
ka isaan wolde'u marti hin bararaqa.
- 23 Dachaan foon isaa wolitti maxxaneera;
dachaan foon isaa jaba'a; hin tacho'ulle'e.
- 24 Gadhaan isaa akka dhaka'aa jaba'a;
akka daaku'uulle jaba'a.
- 25 Yennaa inni ka'u
worri hunnaameyyiin hin bararaqa;
yennaa inni tacho'ulle gara duubaa deebi'an.
- 26 Shallaagaan, eboon, guube'ee fi
mey woraanaa dhibiille
isa hin miidhanu.
- 27 Inni sibiila akka huuraa,
sageettuu akka muka hurroyee bulleessa.
- 28 Daayi isa hin ari'u;
dhakaan looyya'aa* isaaf akka hicaace'ee ti.
- 29 Ciiraan isaaf akka hicaace'ee ti;
yennaa nami marcaa isatti darbatu hin kolla.
- 30 Gogaan gadhaa isaa jalaa
akka bassoo qara qadduu,

* 41:28 Looyyaa: Yaadannoo 1 Sam. 17:40 irratti kenname ilaali.

- yennaa inni mirmiqu
dhogqee irratti beessisa godha.
- ³¹ Inni qilee abbaaya'aa, akka keloo danfituu,
abbaayaalle akka keloo zayiti'ii hin burqisiisa.
- ³² Inni karaa irra dabare akka ifu hin godha;
abbaayaalle hin hoomachessa.
- ³³ Biyya lafaa irra
dadi woy hin sodaanne
ta akka isaa hin jirtu.
- ³⁴ Inni bineensota gugurdaa maraayyuu hin tuffata;
inni bineensota gugurdaa mara irratti mooti'i» jedhe.

42

- ¹ Achiin duuba Iyoo Mootii Waan Maraatiif deebisee,
- ² «Ati waan mara godhuu akka dandeettu,
karoora keetille ka gufachiisu
akka hin jirre ani hin beeka.
- ³ Ati, «Beekkumsa malee
karoora kiyya ka dhossu eennu?» jetteerta.
Dhugumaan ani waan hin hubatin,
waan beekiisaaf guddoo maadee natti teete dubbadheera.
- ⁴ «Ati, «Na caqasi; ani hin dubbadha;
ani si gaafadha,
atile naaf deebis» jetteerta.
- ⁵ Ani marroo teeti dur gurra qofaan dhage'e;
amma ammoo iluma tiyyaan si dhagge.
- ⁶ Tanaaf ani waan dubbadhetti fukkifadhee,
buku'uu fi daadhaa irra te'ee
cubbuu tiyya irraa deebi'a» jedhe.

Yaada Buufataa

⁷ Mootiin Waan Maraa waan kana Iyoo woliin dubbateen duuba, Eliifaazii nama qachaa Temaaniitiif deebisee, «Isin akka tajaajilaa kiyya Iyobii waan sirrii te'e waan hin dubbatiniif aariin tiyya si'ii fi jaalota teeti lamaan irratti bobeeeteerti.

⁸ Tanaaf amma korommii torbaa fi korbeeyyii hoole'ee torba fuudha'aatii, gara tajaajilaa kiyya Iyobii dhaqa'a; achitti kennansa gubamu marroo cubbuu teessaniitiif dhikeeffadha'a; inni isiniif hin daadimata; anille daadimata isaa waan dhage'uuf, akka hujii fukkisiittuu teessaniititti isinitti hin muru; isin akka tajaajilaa kiyya Iyobii, marroo tiyyaaf waan sirrii te'e hin dubbanne» jedhe.

⁹ Achiin duuba Eliifaaziin nami qachaa Temaani, Biildaad nami biyya Shu'aatii fi Zofaar nami biyya Naa'ima dhaqanee, akkuma Mootiin Waan Maraa isaan ajaje godhane; Mootiin Waan Maraalle daadimata Iyobii dhage'e.

¹⁰ Iyoo jaalota ifii sadiif daadimateen duuba, Mootiin Waan Maraa karra isaa addee duriititti deebisee, ta dur qabu caalaa dachaa lama kenneef.

¹¹ Achiin duuba obboleeyyan Iyobii ta dhiiraatii fi ta durraa, worri dur isa beeku duudiille gara isaa dhufanee, mana isaatitti isa woliin areerratane; isaan rakkoo guddoo Mootiin Waan Maraa isatti fide maraaf gaddanee, isa jajjabeessane; tokko tokkoon isaaniituu beese diqqo'oo fi qubee worqi'ii kennaneef.

¹² Mootiin Waan Maraa jiruu Iyoobii ta durii caalaa ta duuba irraa eebbise; Iyoob hoolee kuma kudhanii afur, gaala kuma jaa, qotiyyoo ximmaadii kuma tokkoo fi harree kuma tokko qabaayyu.

¹³ Inni ammalle ilmaan torbaa fi durra sad uumate.

¹⁴ Inni intala ifii angafittii, «Yimiimaa» ta lammeesso'oo, «Qasi'aa» ta sadeesso'oo, «Qereen-haphuu» jedhee maqaa baase.

¹⁵ Lafa duudii irratti dubartiin akka durra Iyoobii guddoo miidhaddu hin jirtuuyyu; abbaan isaanii Iyoob obboleeyyan isaanii woliin dhaala isaanii qoode.

¹⁶ Tanaan duuba Iyoob woggaa dhibba tokkoo fi afurtama le'ee, ilmaan ifii, akaakota ifii, abuubotaa fi abutturoota ifii dhagge.

¹⁷ Inni woggaa hedduu le'ee, dulloomee du'e.

Kitaaba Faaru'uu Seensa

Kitaab faaru'uu Kitaaba Woyyicha keessatti kitaaba mara caalaa dheerata. Faaruun tun nama tokkoon yookiin nama heddu'uun faarfanti yookiin dubbifanti. Kitaaba kana keessa faaruu dhibba tokkoo fi shantamatti jira. Hedduu isaanii ka barreesse mooticha Daawiti. Faaruun tun bara dheeraa keessatti wolitti qabantee, sirna waqonfannaa kolbaa Israa'eliitiif teete. Faaruun tokko tokko meya faaru'uu ka attamiitii fi yoyyoma attamii hordofiisa akka malte sooreessa faarfattootaa akeekan. Fakkeen-naaf faaruun arfeesso'ootii fi faaruun afurtamii shaneesso'oo kana ilaala. Leellisi, galati, dhugeeffannaan, addiin, araara gaafatiisi, addatamummaan Waaqaatii fi qargaarsi isaa, yaadi gugurdaan Kitaaba Woyyichaa kun faaruu keessatti mudhifamaneeran.

Handhurti yaada faaruu tanaa Waaqatti addatiisa. Barreessitooti faaruu tanaa Waaqa galateeffatiisaan yookiin rakkoo ifii himiisaan fedhii ifii ta dhuga'aa dhikeessan.

Israa'elii durii keessatti faaruu tana haala adda addaa keessatti itti fayyadamaa turane. Haalli kunille: 1. Waaqa galateeffatiisaaf, faaruu 105:2. Gadda mudhisiisaaf, faaruu 13; 3. Barsiisiisaaf, faaruu 1; 4. Moototi Israa'elii akka haqa muranu daadimatiisaaf, faaruu 72:5. Waaqi dada mara irratti baallii inni qabu himiisaaf, faaruu 47:6. Yersaalemiif jaalala mudhisiisaaf, faaruu 122:7. Guyyaa jilaatiif, faaruu 126.

Faaruun hedduun kaayoo tokko caalaa qabaatiisa dande'an. Gootaan keenna Yesuus Kiristoos lallabaa fi barsiisa ifii keessatti faaruu tana keessaa yennaa hedduu itti fayyadameera. Barreessitooti Gondooroo Haareyaalle itti deddeebi'anee faaruu tana keessaa fuudhane barreessaneeran. Wolde'i Kiristaanaa ka jalqabaa Waaqa waqonfatiisaaf, karaa Yesuus Kiristoosiitiin waan dansaa Waaqi godheef, faaruu tanatti fayyadamaneeran. Fakkeen-naaf kitaaba faaru'uu keessaa 118:22 Gondooroo Haareya keessatti yennaa jaa barreeffameera.

Kitaab faaru'uu kutaa shanitti qoodama; kutaa qaraatii fi lammeesso'oo irra caalaa mooticha Daawititti barreesse: Kutaa sadeesso'oo Asaaf yookiin ijoollee Qoraahiititti barreesse:

Faaruun 120–134 faaruu guyyaa jilaa ti: Kutaan faaru'uu shanan:

Haadhoo Dubbi'ii

Faaruu 1–41

Faaruu 42–72

Faaruu 73–89

Faaruu 90–106

Faaruu 107–150

Kitaaba tokkeesso'oo

1

(Far. 1–41)

Karaa Lama

¹ Nami gorsa hamaaleyyi'iitiin hin ideenne,
ka karaa cubbaaleyyi'ii hin hordonne,
ka worra busheeshu waliin tokkummaa hin qanne,
ka gammade.

² Nami akkasii ammoo
seera Mootii Waan Maraatiin gammada;
halkanii fi guyyaa seeruma isaa yaadata.

- ³ Inni akka muka laga qargaratti dhaabamee,
yennaa yenna'aan midhaan buusuu,
ka baalli isaa hin qoorree ti.
Wonni inni huju marti isaaf hin teeti.
- ⁴ Hamaaleyyiin ammoo akkasii moti;
isaan akka hicaacee qilleensi haxowee deemuu ti.
- ⁵ Tanaaf, hamaaleyyiin muraa jalaa hin bayanu;
cubbaalleyyiille yaa'ii balchootaa keessatti
hin dhaggamanu.
- ⁶ Tanaaf, Mootiin Waan Maraa
karaa balchootaa hin beeka;
karaan hamaaleyyi'ii ammoo hin bada.

2

Mootii Waaqi Filate

- ¹ Gosi biyya adda addaa maaf finqilti?
Kolbaan maaf mala bu'aa hin qanne dhootti?
- ² Mootii Waan Maraatii fi ka inni muude mormiisaaf,
moototi lafaa hin kakka'an;
bulchitootille isaan waliin mala isaanitti dhootti.
- ³ Isaan, «Kowa'a, wodaroo sibiilaa ta isaanii
ifi irraa kunnuu ti!
Wodaroo isaaniille ifi irraa gannuu ti» jedhan.
- ⁴ Ka ol-gubbaa jiru hin kolla; Mootiin Waan Maraa
isaanitti hin murga.
- ⁵ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa
aari'iin isaan hin xixa.
Mufii ifitiin isaan hin bararassa.
- ⁶ Inni, «Ani gaara kiyya woyyicha Xiyyoon irratti
mootii kiyya muudeera» jedha.
- ⁷ Mootichi, «Ani lassii Mootii Waan Maraa hin lassa;
inni anaan, «Ati ilma kiyya; ani adha si uumadhe.
- ⁸ Na gaafadhu; gosa biyya adda addaa mara sii kenna;
kolbaan biyya lafaa marti qabeenna keeti hin teeti.
- ⁹ Ati ulee bokku'uu ta sibiilaatiin isaan hin bulchita.
Akka okkote'ee isaan hin butuchita» jedhe» jedha.
- ¹⁰ Tanaaf, isin mootoleen qalbeeffadha'a;
isin bulchitooti biyya lafaa ifi eeggadha'a.
- ¹¹ Sodaa guddo'oon Mootii Waan Maraa tajaajila'a.
Rommiisaan isaaf ajajama'a.
- ¹² Mufiin isaa ariiti'iin waan dhuttuuf,
isinitti mufatee akka isin hin balleessine,
qulqullumma'aan waaqonfadha'a.
Worri gara isaa baqatu
ka gammade.

3

Daadimata Ganamaa

Faaruu Daawiti yennaa ilma ifii Abiishaalom duraa baqate faarse.

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa,
diinoti kiyya attam attam bacatan!

- Kolbaan hedduun na irratti kaateerti.
² Worri hedduun,
 «Waaqi isa hin baasu» anaan jedhan.
³ Ee Mootii Waan Maraa,
 ati ammoo adaala kiyyatti wontee tiyya;
 ati ulfinna kiyya; ka mataa kiyyalle ol ol qabu si'i.
⁴ Ani qoonqoo ol qabadhee
 gara Mootii Waan Maraa hin iyya;
 innille gaara woyyicha ifii irraa naa hin dhage'a.
⁵ Ani irkadhee hin rafa; Mootiin Waan Maraa
 waan na eeguuf,
 deebi'ee hin dammaqa.
⁶ Ani loltoota kuma hedduu
 ka na marsaneeranu
 hin sodaadhu.
⁷ Ee Mootii Waan Maraa, ka'i!
 Waaqa kiyya, koyii na baasi!
 Boqoo diinota kiyyaa dhowi;
 ilkaan isaaniille caccassi.
⁸ Qarqaarsi Mootii Waan Maraa biraa dhufa.
 Ee Mootii Waan Maraa, eebbi keeti
 kolbaa teeti irra jiraatuu ti.

4

Daadimata Waaqatti Addatiisaan Dhikaatu

Sooressa faarfattootaatiif, faaruu Daawitii ta meya ribu'uutiin faarfatante.

- ¹ Ee Waaqa balchaa kiyya,
 yennaa ani si waamu naaf owwaadhu.
 Yennaa ani rakkoo keessa jiru
 ati ammoo bilisa na baacha.
 Ammalle naa mararii daadimata kiyya dhage'i.
² Ee Kolba'a, isin haga yoomii ulfinna kiyya salphittan?
 Haga yoomii waan bu'aa hin qanne jaalattan?
 Haga yoomii dhara barbaaddan?
³ Mootiin Waan Maraa worra isaaf addatamaa te'e
 akka filate beeka'a;
 yennaa ani isa waammadhu naaf hin dhage'a.
⁴ Isin yennaa aartanulle cubbuu hin hujina'a;
 isin yennaa taqee teessan irra jirtanu,
 cadhisa'aatii qalbii teessan keessatti itti yaadadha'a.
⁵ Ciincaa sirrii te'e dhikeessa'aatii,
 Mootii Waan Maraattitti addadha'a.
⁶ Namooti, «Waan dansaa eentu nutti mudhisa?» jedhanee gaafatanu
 heddu'u;
 ee Mootii Waan Maraa, ifi fuula keetii nu irratti ifuu ti.
⁷ Gammada worri dhibiin
 midhaanii fi woynii ifi irraa dhaggatu caalaa,
 ati na gammachiitteerta.
⁸ Mootii Waan Maraa, ka nageyaan na eegu,
 si qofa waan te'eef,
 ani yennaa irkadhu, nageyaan rafa.

5

*Daadimata Diina Jalaa Bayiisaaf dhikaate**Sooressa faarfattootaatiif, faaruu Daawitii ta suusulle'een faarfatante.*

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa, dubbii tiyya caqasi;
aadiisa kiyyalle dhage'i.
- ² Mootii kiyya, Waaqa kiyya,
ani waan si daadimadhuuf,
iyya tiyya naa dhage'i.
- ³ Ee Mootii Waan Maraa,
ganama qoonqoo tiyya hin dhageetta;
ganama mara si daadimadhee
deebii si irraa eegadha.
- ⁴ Ati Waaqa hammeennatti gammaduu moti;
hammeennille si woliin hin le'u.
- ⁵ Koorameeyyiin si dura hin dhaabbattu;
worra hantuu huju mara hin jibbita.
- ⁶ Ati dharaameyyii mara hin balleessita;
worra nama ijjeesuu fi nama sobu hin jibbita.
- ⁷ Ani ammoo jaalala keeti ka bara baraatiin
gara mana keetii seena;
si sodaatiisalle'een
gara Dunkaanii Woyyittii teetii garagalee
hin sagada.
- ⁸ Ee Mootii Waan Maraa,
diinota bacaa waan qabuuf,
balchummaa teetiin na soorressi;
karaa keeti naaf qajeelchi.
- ⁹ Diinoti kiyya dhugaa hin dubbatanu;
gadhaan isaanii badi'iin guutameera.
Afaan isaanii akka boolla awwaalaa ta banantee ti;
arraba ifitiin maltee dubbatan.
- ¹⁰ Ee Waaqa, yakkaa isaanii isaanitti muri;
malli isaaniituu badii isaanitti fiduu ti.
Isaan si irratti waan ka'aneef,
sababa cubbuu isaanii heddu'uutiif,
alatti isaan gati.
- ¹¹ Worri gara keeti baqatu marti ammoo
gammaduu ti;
isaan haga bara baraa ilillisanuu ti.
Worri maqaa keeti jaalatu marti si'itti
gammadee akka firinxiixu isaan eegi.
- ¹² Ee Mootii Waan Maraa,
ati balchoota hin eebbitta;
fedhii teeti dansa'aan
akka wonte'ee isaan marsi.

6

*Daadimata Yennaa Rakkinnaa**Sooressa faarfattootaatiif, faaruu Daawitii ta meya ribu'uutiin faarfatante.*

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa, aari'iin na hin xixin;
yookiin mufi'iin na hin adabin.
- ² Ee Mootii Waan Maraa, ani dadhabaa waan te'eef,

- naaf marari;
 Ee Mootii Waan Maraa,
 lafeen tiyya soda'aan waan na sheephitteef
 na fayyisi.
- ³ Lubbuun tiyya guddoo na raafanteerti.
 Ee Mootii Waan Maraa, na qarqaariisaaf,
 ati haga yoomii turta?
- ⁴ Ee Mootii Waan Maraa, deebi'ii na baasi;
 jaalala keeti ka bara baraatiif jedhii na hamburi.
- ⁵ Nami du'ee si qaabatu hin jiru;
 boolla awwaalaa keessaa ka si leellisu eennu?
- ⁶ Ani aadiisaan dadhabeera;
 halkan mara bowaan taqee tiyya maxanqeessee,
 imimmaaniin boraatii tiyya tortorse.
- ⁷ Akka malee waan gaddeef
 ilti tiyya dhagguu dadhaddeerti;
 sababa diinota kiyya maraatiif
 ilti tiyya caararrootteerti.
- ⁸ Mootiin Waan Maraa bowa tiyya waan dhage'eef,
 isin worri hamaaleyyiin marti na irraa fagaadha'a.
- ⁹ Mootiin Waan Maraa iyya tiyya dhage'eera;
 inni daadimata kiyyaaf deebii hin kenna.
- ¹⁰ Diinoti kiyya marti hin qaanowan;
 guddoo hin sodaatanille'e;
 dedhuma salphatanee, gara duubaa hin deebi'an.

7

Daadimata Marroo Muraa Haqaa

*Faaruu Daawitii ta gaddaa, ta inni marroo Kuushii gosa Beniyaaminiitiif,
 gara Mootii Waan Maraa faarse.*

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa Waaqa kiyya, ani gara keeti baqadha;
 worra na ari'u jalaa na hamburii, na baasi!
- ² Yoo akkas hin te'in, addee nami na irraa buusu
 hin jirretti na geessanee
 akka neenqaa gargar na kukkutan.
- ³ Ee Mootii Waan Maraa Waaqa kiyya,
 ani nama tokko yoo yakkee jiraadhe,
 harka kiyyaan dokonkora yoo hujee jiraadhe,
⁴ nama nageyaan na woliin le'u hantuu godhee,
 yookiin diina kiyya sababa malee yoo saamee jiraadhe,
⁵ diinni kiyya ari'ee na qabuu ti;
 lafa irratti na irra sirbee,
 ulfinna kiyya bukuu keessatti lakkisuu ti.
- ⁶ Ee Mootii Waan Maraa, aarii teetiin ka'i;
 worra mufi'iin na irratti ka'e irratti ka'i;
 naa dammaqii, muraa haqaa ajaji.
- ⁷ Kolbaan biyya adda addaa
 adaala keetitti wolitti qabamanuu ti.
 Atille ol-gubbaa irraa isaan bulchi.
- ⁸ Mootii Waan Maraa,
 kolbaa biyya adda addaa irratti muraa kenni;
 akka balchumma'aa fi dhugaammessummaa tiyyaatitti

- muraa naaf kenni.
⁹ Ee Waaqa balcha'a,
 ka qalbi'ii fi gadhaa nama qorqortu,
 hammeenna worra hamaaleyyi'ii balleessi;
 worra balchoolee jabeessii dhaabi.
¹⁰ Waaqi wontee tiyya;
 inni worra gadhaa qajeela'aa hin fayyisa.
¹¹ Waaqi abbaa mura'aa balcha'a;
 Waaqi yennaa mara nama hama'atti hin aara.
¹² Nami hamaan hammeenna ifii irraa yoo hin deebi'in,
 Waaqi shallaagaa ifii hin qarata;
 guubee ifii hujee, qopheeffata.
¹³ Inni meya woraanaa ka ijjeesuu fi
 daaya ifii ka akka ibiddaa bobbe'u hin qopheeffata.
¹⁴ Kolbaan hantuun hammeenna yaaddi;
 daba karoorfattee,
 dhara dubbatti.
¹⁵ Nami boolla namaaf qotu,
 ifumaafuu keessa bu'a.
¹⁶ Hammeenni inni yaadate mataa isaatitti garagala;
 wonni inni hunnaan nama irratti huje
 matuma isaatitti deebiti.
¹⁷ Sababa balchummaa isaatiif,
 ani Mootii Waan Maraa hin galateessa;
 maqaa Mootii Waan Maraa Ol Aana'aatiif
 faaruu leellisaa hin faarsa.

8

Guddinna Waaqaatii Fi Ulfina Namaa

Sooressa faarfattootaatiif, faaruu Daawitii ta suusulle'een faarfatante.

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa, Goottaa keenna!
 Maqaan keeti lafa maratti attam attam gudda'a!
 Ulfina keeti ol-gubbaa irratti diriirsiteerta.
² Diinota keeti loliisaaf,
 nyaaphotaa fi worra haluu bayu cadhi godhiisaaf,
 afaan ijoolle'eetii fi daa'immaan harma hootuutiin,
 hunna qopheessite.
³ Ani ol-gubbaa ati dadde,
 hujii harka keetii,
 ji'aa fi urjoota ati dadde
 yennaa ilaalu,
⁴ akka ati isaaf yaadattuuf,
 nami maan inni?
 Akka ati isa kunuunsituuf,
 ilmi namaa maan inni?
⁵ Ati diqquma Waaqa* isa hanqittee,
 kallacha guddinnaa fi ulfinnaa itti keette.
⁶ Hujii harka keetii mara irratti bulchaa isa gootee,
 waan mara baallii ilma namaatiin jala goote.
⁷ Hoole'ee fi loon mara,
 bineensota,

* **8:5** *Diqquma Waaqa isa hanqitte*: Hiikkaan afaan Giriikii Ergantoota Waaqaa isa hanqitte jedha.

- ⁸ sinbirrootaa fi qurxummii mara,
dada abbaayaa keessaa mara
baallii ilma namaatiin jala goote.
⁹ Ee Mootii Waan Maraa, Gootaa keenna!
Maqaan keeti lafa maratti attam attam gudda'a!

9

Waaqa Muraa Haqaa Muruuf Galata Dhikaate

Sooressa faarfattootaatiif, faaruu Daawitii ta akka yoyyoma faaruu, «Du'a ilmaa» jedhantee beekkantutti faarfatante.

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa, ani gadhaa tokkochaan si leellisaa;
baasa ati goote mara hin odeessa.
² Ani sitti gammadee hin burraaqa;
Waaqa Ol Aana'a,
ani faaruu leellisaa maqaa keetiif hin faarsa.

³ Diinoti kiyya gara duubaa yenna deebi'anu,
isaan gufatanee fuula keeti duraa badan.
⁴ Ati haqa kiyyaa fi haajaa kiyya waan ilaalteef,
barcumaa mootumma'aa keeti irra teettee,
muraa haqaa murteerta.

⁵ Ati gosa biyya adda addaa xixxee,
hamaaleyyii balleessite;
maqaa isaaniille bara baraa haga bara baraa
haxoottee balleessite.
⁶ Diinoti keenna haga bara baraa dhumataneeran.
Qachooti gugurdaan isaanii badaneeran;
Duufeyi* isaaniille ijjumaa badeera.

⁷ Mootiin Waan Maraa ammoo
haga bara baraa bulcha;
inni mura'aaf,
barcumaa mootumma'aa ka ifii
jabeessee dhaabbateera.
⁸ Inni balchumma'aan biyya lafaa hin bulcha;
gosa biyya adda addaa haqaan bulcha.
⁹ Mootiin Waan Maraa worra cunqurfameef,
addee itti baqatanu;
yenna rakko'oo dalleya jaba'a.

¹⁰ Ee Mootii Waan Maraa,
ati worra si barbaadu waan hin lakkinneef,
worri maqaa keeti beeku sitti addata.
¹¹ Mootii Waan Maraa ka Xiyoona keessa te'ee bulchuuf,
faaruu leellisaa faarsa'a.
Waan inni godhe mara
gosa biyya adda addaa oddu'utti odeessa'a.
¹² Inni dhiiga dhangala'eef haluu hin baya;
iyya worra cunqurfameelle hin dedhu.

* **9:6 Duufeyi:** Maqaa addee yaadannoo hujii jannummaa nama tokkoo mudhisiisaaf, meya waan inni tolche san mudhisu itti fannifamee ti.

- 13 Ee Mootii Waan Maraa, naaf marari.
Rakkoo diinoti kiyya natti fidanu ilaali;
du'a irraa na hamburi.
- 14 Achiin duuba ani karra qachaa Xiyoonii† keessatti
waan ittiin si leellisu mara isaanitti hin hima.
Ati waan na fayyitteef,
gammadaan firinxixa.
- 15 Gosi biyya adda addaa
boolluma ifii qotane bu'ane;
miilli isaanii tiyyuma isaan afaneen qabame.
- 16 Mootiin Waan Maraa,
muraa ifii balchitti'iin ifi beessise;
hamaaleyyiin hujuma harka ifitiin qabamane.
- 17 Worri hamaaleyyi'ii fi
gosi biyya adda addaa ka Waaqa dedhu marti,
gara addee worri du'e jiruu gad hin bu'an.
- 18 Worri rakkataan ammoo
yoomille hin dedhamanu;
addiin worra hiyyeeyyi'iille
haga bara baraa baddee hin hattu.
- 19 Ee Mootii Waan Maraa, ka'i!
Nami hin mootomin;
gosi biyya adda addaa
si duratti muraa dhaggattuu ti.
- 20 Ee Mootii Waan Maraa,
akka isaan si sodaatanu godhi;
nama foon uffate te'uu isaanii akka beekanu godhi.

10

Muraa Haqaa dhaggatiisaaf Daadimata Dhikaate

- 1 Ee Mootii Waan Maraa,
ati maaf fagaattee dhaabbatta?
Yennaa nuuti rakkannu maaf ifi dhoffatta?
- 2 Hamaaleyyiin kooraan worra hiyyeeyyii ari'an;
maluma namatti dhowane saniin
ifumaaf qabaman.
- 3 Nami hamaan halchaa gadhaa ifitiin koora;
inni worra joljolu eebbisee,
Mootii Waan Maraa abaara.
- 4 Nami hamaan waan kooruuf
Waaqa hin barbaadu;
yaada isaa keessa Waaqi hin jiru.
- 5 Wonni marti isaaf hin teeti.
Inni muraa Waaqaa hubatuu hin dande'u;
diinota ifi mara irratti hin murga.
- 6 Inni gadhaa ifii keessatti,
«Wonni na tachoosu hin jiru;
dhaloota mara keessatti
rakkinni na hin dhaqqabu» jedhee yaadata.
- 7 Afaan isaa abaarsaan,
dharaa fi sodaachisiisaan guutameera;

† 9:14 Karra qachaa Xiyoonii: Afaan Ibrootaatiin karra intala Xiyoonii jedha.

- inni arraba ifitiin
maltumma'aa fi waan hantuu dubbata.
- ⁸ Inni ollaa cina'atti riphee,
worra qarqaarsa hin qanne gaada;
worra yakkaa hin qanne hin ijjeesa.
- ⁹ Inni akka neenqaa dhokatee gaada;
worra hiyyeeyyii qabiisaaf gaada;
inni tiyyoo ifitiin
worra qarqaarsa hin qanne qabee harkisa.
- ¹⁰ Worri hiyyeeyyiin jigane bututan;
hunna isaa jalatti hin jigan.
- ¹¹ Nami hamaan gadhaa ifi keessatti,
«Waaqi dedheera;
fuula ifi gollateera;
inni ijjumaa hin dhaggu» jedha.
- ¹² Ee Mootii Waan Maraa, ka'i!
Ee Waaqa hunna teeti mudhisi!
Worra qarqaarsa hin qanne hin dedhin.
- ¹³ Nami hamaan maaf Waaqa tuffata?
Maaf gadhaa ifi keessatti,
«Inni na hin adabu» jedha ree?
- ¹⁴ Ee Mootii Waan Maraa,
ati ammoo hin dhaggitta;
rakkinnaa fi gadda dhaggitee
yennaa mara qarqaarsaaf hin qophootta.
Worri rakkataan harka keetitti ifi kennata;
atile ijoollee haadhaa fi abbaa hin qanne
hin qarqaarta.
- ¹⁵ Hunna nama hama'aa cassi;
nami waan hantuu huju
haganaa achi deebi'ee
waan hantuu akka hin hunye, isa adabi.
- ¹⁶ Mootiin Waan Maraa
bara baraa haga baraa mooti'i;
gosi biyya adda addaa
worri waaqota dhibii waaqonsu
lafa isaa irraa hin badan.
- ¹⁷ Ee Mootii Waan Maraa,
ati daadimata worra gad aana'aa hin dhageetta;
ati iyya isaanii caqattee,
isaan hin jajjabeessita.
- ¹⁸ Nami lafaa ka foon uffate
worra dhibii akka hin bararassine,
worra cunqurfameef,
ijoollee haadhaa fi abbaa hin qanneef haqa hin murta.

11

Waaqatti Addatiisa

Faaruu Daawitii, sooreessa faarfattootaatiif.

- ¹ Ani gara Mootii Waan Maraa baqadheera.
Isin attam anaan,

- «Akka simbirre'ee
gara gaara keetii baqadhu!» jettan?
- ² Worri hamaaleyyiin guubee qopheeffateera;
dukkanaan worra addatama'atti darbatiisaaf,
daaya ifii itti qajeelfateera.
- ³ Hundeen waan dansa'aa marti yoo badde,
nami balchaan maan godhuu dande'a ree?
- ⁴ Mootiin Waan Maraa
Dunkaanii Woyyittii ifii keessa jira;
ol-gubba'atti barcumaa mootumma'aa ka ifii qaba.
Inni ilmaan namaa ilaala;
ilti isaalle isaan qorqorti.
- ⁵ Mootiin Waan Maraa balchoota haga hin ilaala;
hamaaleyyi'ii fi
worra hunnaan nama irratti ka'u ammoo hin jibba.
- ⁶ Mootiin Waan Maraa hamaaleyyii irratti
kashila ibiddaatii fi dhakaa bobe'u hin roobisiisa;
qilleensi gubu hiree isaanii hin te'a.
- ⁷ Mootiin Waan Maraa balchaa waan te'eef,
inni hujii balchootaa hin jaalata;
worri hujii balchaa huju fuula isaa hin dhagga.

12

Daadimata Qarqaarsa Dhaggatiisaaf Dhikaate

Sooressa faarfattootaatiif, faaruu Daawitii ta meya ribu'uutiin faarfatante.

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa,
nami Waaqa sodaatu waan hin jirreef,
nu qarqaar;
nami addatamaan
ilmaan namaa oddu'uu dhabameera.
- ² Tokko tokkoon isaanii dhara wolitti dubbatan;
Isaan hidhii kookkisaatiin soba dubbatan.
- ³ Mootiin Waan Maraa
hidhii sossobaatii fi arraba koorameessaa kutuu ti.
- ⁴ Isaan, «Nuuti dubbannee
waan feene hin dhagganna;
waan feene hin dubbanna;
ka nu dhoogguu dande'u hin jiru» jedhan.
- ⁵ Mootiin Waan Maraa ammoo,
«Worri hiyyeeyyiin waan cunqurfameef,
worri rakkataan waan iyyuuf,
qarqaarsa isaan barbaadanu kenniisaaf
ani hin ka'a» jedha.
- ⁶ Dubbiin Mootii Waan Maraa qullu'u;
akka meetii barbada ibiddaatitti baxxee
yennaa torba qulloottee ti.
- ⁷ Ee Mootii Waan Maraa, ati isaan hin gollita;
dhaloota hamaa irraa haga bara baraa nu hin eedda.
- ⁸ Yennaa wonni hantuun saadantu
nami marti waan hantuu jaalata.

13

Daadimata Qarqaarsa Dhaggatiisaaf Dhikaate

Faaruu Daawitii, sooressa faarfattootaatiif.

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa,
ati haga yoomii na deeta?
Haga bara baraa tii?
Haga yoomii fuula keeti na duraa dhoffatta?
- ² Haga yoomii rakkoo ciniinnadhee ossadha?
Haga yoomii gadhaan kiyya
halkanii fi guyyaa gaddaan guutama?
Haga yoomii diinoti kiyya na injifatan?
- ³ Ee Mootii Waan Maraa,
Waaqa kiyya na ilaalii, deebii naa deebisi.
Jabeenna kiyya adde'etti naa deebisi;
akka du'u na hin godhin.
- ⁴ Diinoti kiyya,
«Isa injifanne» jedhanee akka kooranu,
nyaapholeen kiyyalle
jinnana kiyyatti akka gammadanu hin godhin.
- ⁵ Ani ammoo marartii guddoo sanitti addadheera;
gadhaan kiyyalle fayyisiisa keetitti hin gammada.
- ⁶ Mootiin Waan Maraa
waan dansaa waan naa godheef,
ani isaaf hin faarfadha.

14*Hammeenna Namaa**Faaruu Daawitii, sooressa faarfattootaatiif.*

- ¹ Worri gowwooleen, gadhaa ifii keessatti,
«Waaqi hin jiru» jedhan.
Isaan worra bada'a;
waan gadhee hujan;
isaan keessaa ka waan dansaa huju tokkolle hin jiru.
- ² Worri qarooleen Waaqa barbaadu
yoo jiraate dhaggiisaaf, Mootiin Waan Maraa
ol-gubbaa irraa
gara ilmaan namaa gad ilaala.
- ³ Isaan martinuu ammoo karaa irraa goranee,
martinuu wolumatti worra badaa te'aneeran.
Isaan keessaa ka waan dansaa huju hin jiru;
tokkolle hin jiru.
- ⁴ Mootiin Waan Maraa,
«Worri hamaaleyyiin womaa hin hubatuu?
Akkuma nami sagalee nyaatu
worri kolbaa tiyya nyaatu,
isaan gara kiyya hin daadimatantu» jedha.
- ⁵ Mootiin Waan Maraa
worra balchoota woliin waan jiruuf,
worri hamaaleyyiin bararaqa guddaa keessa jiran.
- ⁶ Isin hamaaleyyiin
karoora worra gad aana'aa hin gufachiittan;
Mootiin Waan Maraa ammoo

isaaniif addee isaan itti baqatanu.
⁷ Xiyyoon keessaa fayyinni kolbaa Israa'eliitiif
 adoo dhufee jiraatee!
 Yennaa Mootiin Waan Maraa boojuu kolba'aa deebisu,
 sanyiin Yaaqoobii hin burraaxxi;
 kolbaan Israa'elii hin gammaddi.

15

Waan Waaqi Nama Irraa Barbaadu

Faaruu Daawitii.

- ¹ Mootii Waan Maraa,
 Dunkaanii Woyyittii teeti keessa
 eentu jiraatiisa dande'a?
 Kooba keeti woyyicha irra
 eentu le'uu dande'a?
² Worra komii hin qannee fi
 ka waan balchaa te'e huju,
 ka gadhaa ifii keessaa dhugaa dubbatu,
³ ka maqaa namaa hin balleessine,
 ka jaalota ifii irratti waan hantuu hin hunye,
 ka ollaa ifii hin hamanne.
⁴ Worra hamoolee ka tuffatu,
 worra Mootii Waan Maraa sodaatu ammoo ka ulfeessu.
 Ta isa miitu teetelle
 waan waadaa gale ka muummessu.
⁵ Beesee ifi dhala malee ka liqeessu;
 worra balleessaa hin qanne miidhiisaaf
 safuu ka hin fudhanne.

Nami waan kana godhu ijjumaa hin raafamu.

16

Waaqatti Addii Godhatiisaaf Daadimata Dhikaate

Faaruu Daawitii.

- ¹ Ee Waaqa, ani sitti waan baqadhuuf,
 ati na eegi.
² Ani Mootii Waan Maraatiin,
 «Ati Gootaa kiyya;
 si'iin malee ani waan dansaa hin qabu» jedhe.
³ Worri isaaf woyyoomee lafa irra le'u, ka ulfaate;
 ani isaanitti gammada.
⁴ Worra waaqota dhibii waaqonfatu
 gadda gudda'atti isaan dhaqqaba.
 Ani waaqota dharaatiif
 ciincaa dhiigaa hin dhikeessu;
 afaan kiyyal'e'en maqaa isaanii hin dhowu.
⁵ Ee Mootii Waan Maraa,
 goodi lafa tiyyaatii fi hireen tiyya si'i.
 Qoodi lafa tiyyaa harka keeti keessa jira.
⁶ Wodaroon tiyya ta meessaa ittiin mikanu*

* **16:6** Ittiin mikanu: *Hagam akka dheeratu yookiin badhatu ittiin beekanu*

addee dansaa irra naaf buute;
dhugumaan ani lafa dansaa qaba.

- ⁷ Ani Mootii Waan Maraa
ka gorsa naaf kennu hin leellifadha.
Halkan keessalle
wodanaan kiyya ifi na eeggachiisa.
- ⁸ Mootiin Waan Maraa
fuula kiyya dura akka naaf jiru,
ani yennaa mara hin beeka.
Inni midda kiyya waan jiruuf,
ani hin raafamu.
- ⁹ Tanaaf, gadhaan kiyya hin gammada;
arrabi kiyya hin ilillisa;
nafi kiyyalle sodaa malee hin foorfata.
- ¹⁰ Ati addee worri du'e jirutti
waan na hin lakkinneef,
ati woyyicha keeti akka shamu hin gootu.
- ¹¹ Ati daandii jiru'uu natti hin mudhitta;
gammadi guutuun fuula keeti dura,
wonni haga bara baraa nama gammachiisu
harka keeti middicha keessa jira.

17

Daadimata Nama Yakkaa Malee Ari'amee

Daadimata Daawitii.

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa,
gaaffii tiyya ta haqaa dhage'i;
iyya tiyya caqasi.
Gurra keeti gara daadimata kiyya
ka soba hin te'inii deebifadhu.
- ² Ilti teeti waan sirrii te'e waan dhaggituuf,
muraan tiyya si biraa naa dhuttuu ti.
- ³ Gadhaa kiyya yoo qorqorte,
halkaniin gara kiyya dhuttee,
yoo haga na ilaalte,
hammeenna na keessatti hin dhaggitu;
afaan kiyyalle cubbuu hin dubbatu.
- ⁴ Jecha afaan keeti keessaa bayuuf ajajamee,
waan namooti hujanu irraa,
karaa isaan hunnaan nama irratti ka'anuu irralle'ee,
ifi eeggadheera.
- ⁵ Ideensi kiyya daandii teeti eegateera;
miilli kiyyalle hin fallaanne.
- ⁶ Ee Waaqa, ati waan naa dhageettuuf,
ani si waammadha;
gurra keeti gara kiyya deebifadhuutii,
jecha kiyya dhage'i.
- ⁷ Worra sitti baqatu,
harka keeti middichaan
diinota isaanii jalaa isaan ka baachu,
jaalala keeti ka bara baraa san
baasa godhii isaanitti mudhisi.

- ⁸ Akka ila teetii na eegi;
bobaa teetii jalatti na dhossi.
- ⁹ Hamaaleyyii hunnaan na irratti ka'ane,
diinota kiyya worra hamaa na marsane irraa na eegi.
- ¹⁰ Isaan gadhaa jabaataneeran;
afaan ifitiin koora dubbatan.
- ¹¹ Isaan ari'anee na marsaneeran;
lafatti gad na dhowiisaaf, ilaan na qabataneeran.
- ¹² Isaan akka neenqa waan adanse kukkutatiisa fedhee,
akka neenqa dardaraa ka riphee wo gaaduu ti.
- ¹³ Ee Mootii Waan Maraa
ka'iitii, lolii isaan gad dhowi!
Shallaagaa keetiin hamaaleyyii jalaa na baasi.
- ¹⁴ Mootii Waan Maraa, harka keetiin
worra jiruu biyya lafaa tana keessatti
waan barbaadanu mara qabanu
jalaa na baasi.

Ati rakkinna isaaniif kuucheen isaan adabi;
rakkinni kun ijoollee isaaniitii fi
ijoollee ijoollee isaaniitiifille akka te'u godhi.

- ¹⁵ Ani balchumma'aan fuula keeti hin ilaala;
ani yennaa dammaqu,
bifa keeti dhaggee hin quufa.

18

Faaruu Injifanno'oo
(2 Sam. 22:1-51)

*Sooressa faarfattootaatiif, faaruu garbichi Mootii Waan Maraa Daawiti
yennaa Mootiin Waan Maraa harka Saa'oliitii fi diinota isaa mara jalaa isa
baase Mootii Waan Maraatiif faarfate.*

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa, ati jabeenna kiyya;
ani si jaaladha.
- ² Mootiin Waan Maraa rassaa kiyya,
waan itti golladhu;
ka na baasulle'e.
- Waaqi kiyya rassaa kiyya ka ani itti baqadhu;
inni wontee tiyya;
ka akka gaafaa woy na irraa dhooggu;
inni waan ani itti golladhu.
- ³ Ani Mootii Waan Maraa leellifamaa
hin waammadha;
innille diinota kiyya jalaa na hin baasa.
- ⁴ Wodaroon du'aa natti maratte;
danbaliin badi'ii na bararassite.
- ⁵ Wodaroon qilee du'aa na xaxxee,
tiyyoon du'aa na qabatte.
- ⁶ Rakkinna kiyya keessatti
ani Mootii Waan Maraa kiyya waammadhe;
akka na qarqaaruuf,
Waaqa kiyyatti iyye.
- Inni Dunkaanii Woyyittii ifi keessaa

- qoonqoo tiyya dhage'e;
iyya tiyyalle caqase.
- ⁷ Mootiin Waan Maraa waan aareef,
latti rommitee tachoote;
hundeen gaarotaalle hargufamanee raafamane.
- ⁸ Funnaan isaa keessaa aarri baye;
afaan isaa keessaa ibiddi luxub godhuu fi
kashilli ibiddaa baye.
- ⁹ Inni ol-gubbaa dayyaasee gad bu'e;
duumensi gurraachi miila isaa jala jiraayyu.
- ¹⁰ Inni dada ol-gubba'aa ta koola qaddu irra tee'ee,
koolaan ka'aa,
koola qilleensaa irra tee'ee ariifatee dhufiisatti jira.
- ¹¹ Inni dukkana gollaa ifii godhatee,
dunkaaniin isaa adaala isaa jirtiyyu;
duumensi gurraachi bisaaniin guutame,
isa marseera.
- ¹² Calalaqa fuula isaa dura jiru keessaa,
dhakaan bokkeyaatii fi kashilli ibiddaa
duumensa dayyaasane bayane.
- ¹³ Mootiin Waan Maraa ol-gubbaa irraa mandi'e;
Waaqi Ol Aanaan qoonqoo ifii dhageessise.
- ¹⁴ Inni daaya ifii darbatee diinota ifii bittinneesse;
balaqqeessa balaqqeetti'iitiin
gara itti goranu isaan wollaalchise.
- ¹⁵ Ee Mootii Waan Maraa, xixicha keetiin,
dhowicha hafuura funnaan keetiitiin,
dhooqoti abbaayaa jalaa mudhatane;
hundeen lafaa marti qullaa hafane.
- ¹⁶ Inni gubbaa irraa gad hiixatee, na qabe;
bisaan gugurdaa keessaa harkisee na baase.
- ¹⁷ Isaan akka malee hunnaan waan na caalanuuf,
inni diinota kiyya hunnaameyyii,
worra na jibbu jalaa na baase.
- ¹⁸ Yennaa ani rakkadhe, isaan na irratti ka'ane;
Mootiin Waan Maraa ammoo na qarqaare.
- ¹⁹ Inni gara addee badho'oo na geessee,
waan natti gammadeef, na baase.
- ²⁰ Mootiin Waan Maraa
akkuma balchummaa tiyyaatitti naaf godhe;
inni waan ani yakkaa hin qanneef gatii naa kaffale.
- ²¹ Ani karaa Mootii Waan Maraa waan hordofeef,
Waaqa kiyya irraa deebi'ee
waan hantuu hin hunye.
- ²² Ani seera isaa mara muummesseera;
seerata isaalle hin didane.
- ²³ Ani isa duratti komii hin qabuuyyu;
cubbuu irraalle ifi eeggadheera.
- ²⁴ Mootiin Waan Maraa akkuma balchummaa tiyyaatitti,
ani waan yakkaa hin qanneef gatii naa kaffale.
- ²⁵ Ee, Mootii Waan Maraa,
ati worra addatama'aaf, ka addatante;
worra komii hin qanneef, ka komii hin qanne.

- 26 Worra qulqullu'uuf, ati qulqullu'u;
 worra dabaaleessaaf,
 akka daba isaaniititti gatii isaaniif kennita.
- 27 Ati worra gad ifi qabu hin baacha;
 worra kooru ammoo hin salphitta.
- 28 Ee Mootii Waan Maraa, ati ifa naaf hin issita;
 Waaqa kiyya, ati dukkana tiyya hin issita.
- 29 Qarqaarsa keetiin ani loltoota hin lola;
 qarqaarsa Waaqaatiin
 dalleya gubba'aan utaaluu dande'a.
- 30 Karaan Waaqaa dhidhinna hin qabu;
 jechi Mootii Waan Maraa dhuga'a;
 worra isatti baqatuuf, inni wonte'e.
- 31 Waaqa malee Mootiin Waan Maraa eennu?
 Waaqa keenna malee rasaan eennu?
- 32 Jabeenna ka anaaf kennu,
 ka karaa naaf qajeelchu Waaqa.
- 33 Inni miila kiyya akka miila gadansaa hin jabeessa;
 gaarota gubbaa sodaa malee na dhaabbachiisa.
- 34 Guubee sageettu'uu hujuu akka dande'u,
 harka kiyyalle lolaaf hin leenjisa.
- 35 Wontee teeti ta fayyinnaa naa kennitee,
 harki keeti middichi na qarqaare;
 qarqaarsi keeti guddaa na godhe.
- 36 Karaa ideemmaa tiyyaa naaf badhitte;
 miilli kiyya hin mucucaanne.
- 37 Ani diinota kiyya ari'ee hin dhaqqaba;
 ani haga isaan balleessutti
 gara duubaa hin deebi'u.
- 38 Akka isaan dande'aneen hin kaane,
 gad isaan hin dhowa;
 isaan miila kiyya jalatti hin jigan.
- 39 Ati lolaaf hunna naaf kennite;
 diinota kiyya irratti injifannoo naaf kennite.
- 40 Ati diinoti kiyya akka duubatti deebi'anuu goote;
 ani worra na jibbu balleesse.
- 41 Isaan qarqaarsa gaafatiisaaf iyyane;
 ammoo nami tokkolle isaan hin qarqaarre.
- Isaan Mootii Waan Maraa waamane;
 inni ammoo deebii hin kennine.
- 42 Akka bukuu qilleensi afuufuu, ani isaan butuche;
 akka dhoqqee karaa keessaa, ani isaan irra sirbe.
- 43 Ati kolbaa na loltu jalaa na baattee*,
 gosa biyya adda addaa irratti bulchaa na goote;
 kolbaan ani hin beenne na tajaajilti.
- 44 Isaan akkuma marroo tiyya dhage'aneen,
 naaf ajajaman;
 ormi gad naaf jedhan.
- 45 Isaan Sodaatanee addii kutatan;
 rommanee kushee jadduu ifii lakkisaneen bayan.

* 18:43 Baattee: Yookiin baache.

- 46 Mootiin Waan Maraa jiraata'a!
 Rasaan kiyya leellifamuu ti!
 Waaqi fayyisaan kiyya jajamuu ti.
- 47 Inni Waaqa diinota kiyya haluu naa bayu;
 gosa biyya adda addaa harka kiyya jala galcha.
- 48 Inni diinota kiyya jalaa na baasa.
 Diinota kiyya irratti ol ol na qaba;
 kolbaa hunnaan na irratti kaatu jalalle'ee na baasa.
- 49 Tanaaf, Mootii Waan Maraa,
 gosa biyya adda addaa oddu'utti, ani si leellisa;
 Faaruu leellisaatiin maqaa keeti faarfadha.
- 50 Mootiin Waan Maraa mooticha mootii godheef,
 injifachaa kenna;
 ka ifii muude Daawitii fi sanyii isaatiif,
 jaalala ifii ka bara baraa
 itti mudhisa.

19

Dadi Ulfinna Waaqaa Mudhitti

Faaruu Daawitii, sooressa faarfattootaatiif.

- 1 Ol-gubbaan ulfinnaa Waaqaa hinti;
 gubbaan hujii harka isaa lalladdi.
- 2 Guyyaan guyyaa itti aanutti kanuma dabarsa;
 halkanille halkan itti aanutti woma kana hima.
- 3 Dubbiin yookiin jechi hin jiru;
 qoonqoon isaanii hin dhage'antu;
- 4 Te'uu malee ergaan isaanii
 biyya lafaa duudi'itti baatee,
 haga qaccee biyya lafaa geetti.
- Inni adu'uuf gubbaa irratti dunkaanii dhaabe.
 5 Aduun akka waajiba diinqa ifiitii gad bayuu baati;
 akkuma nami rukkee wol doggommi'ii rukkisu
 gammadaan rukkisu,
 aduun rukkee wol doggommi'ii rukkisiisaaf gammaddi.
- 6 Aduun dhuma qaccee gubba'aa taan irraa ol baatee,
 gara qaccee taanii qaxxaamurti;
 wonni o'a isi'ii duraa dhokatu hin jiru.

Seera Mootii Waan Maraa

- 7 Seerri Mootii Waan Maraa dhidhuu hin qabu;
 lubbuu haarella.
 Ajaji Mootii Waan Maraa addatama'a;
 nama gowwaa qaroo godha.
- 8 Seerri Mootii Waan Maraa sirri'i;
 gadhaa nama gammachiisa.
- Ajaji isaa ifa;
 Ila namaa bana.
- 9 Mootii Waan Maraa sodaatiis yaada qullicha;
 yaadi kun haga bara baraa jiraata.
- Muraan Mootii Waan Maraa marti dhuga'a;
 isiin yennaa mara haqa.
- 10 Worqii gatii guddo'oo caalaa,

- worqii baqisiisanee qulleessane caala'aayyuu gatii qaddi.
 Damma caalaa,
 nadhii dammaa caalaa mi'ootti.
¹¹ Ani tajaajilaan keeti isi'iin gorfama;
 isii eegatiisaan gatii guddoo dhaggadha.
¹² Ka dokonkora ifii dhaggu eennu?
 Cubbuu tiyya ta dhokatte irraa
 na qulqulleessi.
¹³ Cubbuu beekaa hujanu irraa
 na garbicha keeti eegi;
 akka isiin na mootu hin eeyyamin.
 Yoos ani ka komii hin qannee fi
 ka yakkaa guddoo hin qanne hin te'a.
¹⁴ Ee Mootii Waan Maraa,
 rassaa kiyyaa fi wodoo kiyya!
 Jechi afaan kiyyaatii fi
 yaadi gadhaa kiyyaa
 si duratti fudhatama qabaatanuu ti.

20

Daadimata Injifannoo Dhaggatiisaaf Dhikaate

Faaruu Daawitii, sooressa faarfattootaatiif.

- ¹ Guyyaa rakkinna keetii
 Mootiin Waan Maraa si'iif dhage'u!
 Maqaan Waaqa Yaaqoobii si eegu!
² Inni Dunkaanii Woyyittii ifi keessaa
 qarqaarsa si'iif ergu;
 gaara Xiyoonii irraa qarqaarsa siif ergu.
³ Inni kennansa keeti mara fudhatee
 ciincaa keeti maratti gammaduu ti.
⁴ Inni halchaa gadhaa keetii sii kennu;
 yaada keeti mara sii guutu.
⁵ Yennaa ati injifatte
 nuuti gammadaan hin ilillinna;
 Waaqa keenaa leellisiisaan
 baandiraa keenaa ol kaafanna;
 Mootiin Waan Maraa
 waan ati gaafate mara si'iif guutu.
⁶ Mootiin Waan Maraa
 ka ifii muude akka qarqaaru ani hin beeka;
 inni ol-gubbaa woyyittii ifi keessaa
 deebii isaaf hin kenna;
 harka ifii middichaan
 injifachaa guddoo isaaf hin kenna.
⁷ Worri gariin
 garreettaa lolaa ka fardaan harkifamu ifiititti,
 worri gariin fardoo ifiititti addata;
 nuuti ammoo
 maqaa Mootii Waan Maraa Waaqa keennaatitti addanna.
⁸ Isaan gufatane hin jigan;
 nuuti ammoo kaanee jabaanne hin dhaabbanna.
⁹ Ee Mootii Waan Maraa! Mooticha injifachiisi!

Yennaa nuuti si waammannu nuuf dhage'i!

21

Galata Injifachaa Dhagganteef Dhikaate

Faaruu Daawitii, sooressa faarfattootaatiif.

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa,
mootichi jabeenna keetiin gammada;
injifachaa ati isaa kenniteen,
gammadi isaa attam attam gudda'a!
- ² Ati halchaa gadhaa isaa isaaf kenniteerta;
waan inni si gaafate ati isa hin dhoogganne.
- ³ Eebba gudda'aan gara isaa waan dhutteef,
mataa isaa irra kallacha worqii qullu'uu keetteerta.
- ⁴ Inni jiruu si gaafate;
atille bara dheeraa haga bara baraa isaaf kennite.
- ⁵ Ati injifachaa waan isaaf kenniteef,
ulfinni isaa guddaa te'e;
ati ulfinnaa fi guddinna isaaf kennite.
- ⁶ Eebba bara baraa isaaf kennite;
ati isa woliin waan jirtuuf, isa gammachiitta.
- ⁷ Mootichi Mootii Waan Maraatiitti addata;
sababa jaalala bara baraa ka Waaqa Ol Aana'aatiif,
inni hin raafamu.
- ⁸ Harki keeti diinota keeti mara hin dhowa;
harki keeti middichi worra si jibbu hin qaba.
- ⁹ Ati yennaa mudhattu,
akka barbada ibiddaa isaan gudda.
Mufii teetiin isaan hin fixa;
ibiddi isaan luxub godha.
- ¹⁰ Ati sanyii isaanii lafa irraa,
hiddaa fi hidaada isaanii
ilmaan namootaa oddu'uu hin balleessita.
- ¹¹ Isaan yoo hantuu si irratti yaadane,
mala yoo sitti dhowane, isaaniif hin teetu.
- ¹² Ati guubee teeti gara isaanii hin qadda,
gara duubaa deebi'anee akka baqatanu hin goota.
- ¹³ Ee Mootii Waan Maraa, jabeenna keetiin ka'i!
Nuuti faarfannee hunna teeti hin leellinna.

22

Iyya Gaddaati Fi Faaruu Leellisaa

Sooressa faarfattootaatiif, faaruu Daawitii ta yoyyoma, «Gadansa dayya'a boru'uu» jedhantuun faarfatante.

- ¹ Waaqa kiyya, Waaqa kiyya, maaf na lakkitte?
Ati maaf na qarqaariisa irraa,
jecha aadiisa kiyyaa irraa fagaatte?
- ² Waaqa kiyya, ani guyyaa gara keeti iyya,
ati ammoo naaf hin deebittu;
halkanille hin iyya,
ammoo foora hin dhaggadhu.

- ³ Te'uu malee ati Waaqa woyyicha.
 Leellisi worra Israa'elii
 barcumaa mootumma'aa keeti marsa.
- ⁴ Abbootiin teenna ta durii sitti addatte;
 isaan si addatanee,
 atille isaan baache.
- ⁵ Isaan gara keeti iyyanee bayane;
 sitti addataneelle hin fokkifanne.
- ⁶ Ani ammoo corroqa malee namaa moti;
 namooti natti murgan; kolbaalle na tuffatti.
- ⁷ Ka na dhaggu marti natti murga;
 isaan arraba baasanee mataa natti raasaa,
- ⁸ «Inni Mootii Waan Maraatiitti addateeraa,
 inni isa hamburruu ti me!
 Inni waan isa jaalatuuf,
 isa baasuu ti me!» naan jedhan.
- ⁹ Ati nageyaan akka dhaladhu na gootee,
 harma haadha tiyyaa irralle'etti na eedde.
- ¹⁰ Gadaamessa haadha tiyyaatii jalqabee
 ka na eege si'i;
 gadhaa haadha tiyyaatii jalqaddee
 ati Waaqa kiyya teeteerta.
- ¹¹ Rakkinni na dhaqqabiisaaf waan dhikaateef,
 ka na qarqaarulle waan hin jirreef,
 na irraa hin fagaatin.
- ¹² Diinoti hedduun akka korommi'ii na marsaneeran;
 worri jajjaboon akka korommii Baashaanii
 na naannessaneeran.
- ¹³ Akka neenqa waan adanse kukkutataa dhangaa dhowuu,
 isaan afaan ifii natti banan.
- ¹⁴ Hunni tiyya akka bisaanii jiddeerti;
 mitikaan lafee tiyyaa marti gargar bayeera.
 Gadhaan kiyya akka gaga'aa
 na baqeera.
- ¹⁵ Afaan kiyya akka basso'oo gogee,
 arrabi kiyyalle laagada'atti na qabate;
 ati akka nama du'ee bukuu keessa na irkitte.
- ¹⁶ Worri akka sare'ee na marse;
 goliin worra hantuu hujuu na naannessanee,
 harka kiyyaa fi miila kiyya woraananee fullaasane.
- ¹⁷ Ani huggadhee lafeen tiyya mudhatte;
 diinoti kiyya ila natti qabaneen na ilaalane.
- ¹⁸ Woyaa tiyya qoqoodamanee,
 ruufa kiyyatti hixaa buufatane.
- ¹⁹ Ee Mootii Waan Maraa kiyya,
 ati ammoo na irraa hin fagaatin!
 Ee qarqaaraa kiyya,
 na qarqaariisaaf ariifadhuu koy!
- ²⁰ Lubbuu tiyya shallaagaa jalaa,
 jiruu tiyya hunna saroolee tanaa jalaa baasi.
- ²¹ Afaan neenqaa jalaa na hamburi;
 gaafa gafarsaa jalaa na baasi.

- 22 Ani guddinna maqaa keetii kolbaa tiyyatti hin hima;
wolde'a gumii isaanii keessatti ani si hin leellisa.
- 23 Isin worri Mootii Waan Maraa sodaattanu,
isa leellisa'a!
Isin sanyiin Yaaqoobii marti,
isa ulfeessa'a!
Isin kolbaan Israa'elii marti,
isa saadadha'a!
- 24 Inni nama rakkate hin tuffanne;
inni fuula ifille isa irraa hin deebifanne;
ammoo yennaa inni gara isaa iyye isaaf dhage'e.
- 25 Waan ati hujjeef,
gumii guddoo keessatti ani si leellisa;
worra si sodaatu duratti waan waadaa gale
ani si'iif hin kenna.
- 26 Worri hiyyeeyyiin nyaatanee hin quufan;
worri Mootii Waan Maraa barbaadu,
isa hin leellisan.
Baruma baraan gadhaan keessan gammadaan le'uu ti!
- 27 Kolbaan lafa irraa marti qaabattee
gara Mootii Waan Maraa hin deebiti;
maatiin gosa biyya adda addaa marti
isaaf hin sagaddi.
- 28 Baalliin ta Mootii Waan Maraa waan te'eef,
inni gosa biyya adda addaa hin bulcha.
- 29 Worri dureeyyiin marti isaaf hin sagadan;
nami foon uffate marti isa duratti hin jilbiiffatan.
- 30 Dhalooti hegerii isa hin tajaajilan;
dhaloota dhufutti
marroon waan Mootii Waan Maraa
itti hin himama.
- 31 Isaan dhufanee hujii balchummaa isaa lassaa,
balchummaa inni huje
worra amma hin dhalatiniif hin himan.

23

Mootiin Waan Maraa Tissee Dansa'a

Faaruu Daawitii.

- 1 Mootiin Waan Maraa tissee kiyya;
ani womaa hin dhabu.
- 2 Inni marra bisilee keessatti
akka ani foorfadhu godha;
gara bisaan dansa'aa na geessa.
- 3 Inni jabeenna haareya naa kenna;
maqaa ifitiif jedhee
daandii balchaa irra na soorressa.
- 4 Ani dhooqa gaaddisa du'aa keessa yoo ideemelle,
ati waan na woliin jirtuuf,
Ani waan hantuu natti dhuttu hin sodaadhu.
Uleen teetii fi borjoon teeti na jajjabeessan.
- 5 Adoo diinoti kiyya dhagganuu,
ati nyaata naaf qopheessita.

Mataa kiyya zayitii ejersaa* muudda;
 muduunuun tiyyalle guuttee irraa dhangalaati.
 6 Dhugumaan, bara jiruu tiyyaa mara,
 dansummaan teetii fi
 marartiin teeti na gula deeman;
 bara le'ii tiyyaa mara
 mana Mootii Waan Maraa keessa hin le'a.

24

Mooticha Guddaa

Faaruu Daawitii.

- 1 Lafaa fi wonni lafa irra jiru marti
 ka Mootii Waan Maraa ti;
 biyyi lafaatii fi worri isii keessa le'u marti ka isaa ti.
- 2 Inni lafa hundee abbaaya'aa irra keye,
 bisaan irra isii jabeessee dhaabe.
- 3 Gara kooba Mootii Waan Maraa ka ol bayu eennu?
 Dunkaanii isaa woyyittii keessa ka dhaabbatu eennu?
- 4 Nama harka qulqullu'uutii fi gadhaa qullu'uu,
 ka waaqota dharaa hin waaqonfanne,
 ka sobaan hin kakanne qofa.
- 5 Inni Mootii Waan Maraa biraa eebba,
 Waaqa fayyisaa biraa balchummaa hin dhaggata.
- 6 Dhalooti isa barbaadu isaan kana;
 ee Waaqa Yaaqoobii,
 worri fuula keeti barbaadu isaanuma kana.
- 7 Mootiin ulfinnaa akka seenu,
 Ee Karra, gara maraan banama'a!
 Isin balbala durii durii, badhadha'aa banama'a!
- 8 Mootiin ulfinnaa kun eennu inni?
 Inni Mootii Waan Maraa jaba'aa fi janna;
 inni Mootii Waan Maraa ka lolaan jaba'aa ti.
- 9 Mootiin ulfinnaa akka seenu,
 Ee karra, gara maraan banama'a!
 Isin balbala durii durii, badhadha'aa banama'a!
- 10 Mootiin ulfinnaa kun eennu inni?
 Inni Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dade,
 mootii ulfinnaa ti.

25

Waaqaan sooreffamiisaa Fi Eegamiisaa fiille Daadimata Dhikaate

Faaruu Daawitii.

- 1 Ee Mootii Waan Maraa,
 lubbuun tiyya ol gara keeti yaaddi;
- 2 Ee Waaqa kiyya, ani sitti addadha.
 Akka fukkifadhu na hin godhin;
 diinoti kiyya natti hin gammadin.
- 3 Worri addii sitti godhatu hin fukkifatu;
 worri si'iif hin addatanne ammoo hin fukkifatan.
- 4 Ee Mootii Waan Maraa,

* 23:5 Zayitii ejersaa: Akkuma Gujiin dhadhaa iffatu, Israa'elooti zayitii ejersaa iffatan.

- karaa keeti akka beeku na godhi;
daandii teeti na barsiisi.
- ⁵ Ati Waaqa fayyisaa kiyya waan teeteef,
dhugaa teetiin na sooressii, na barsiisi;
ani yennaa mara addii si godhadha.
- ⁶ Ee Mootii Waan Maraa,
marartii teetii guddo'oo fi
jaalala keeti ka bara baraa,
ka durii jalqaddee mudhitte yaadadhu.
- ⁷ Ee Mootii Waan Maraa, ati dansaa waan teeteef,
akka jaalala keeti ka bara baraatitti
naa yaadadhu malee,
cubbuu dargaggummaa tiyyaa
yookiin yakkaa tiyya hin yaadatin.
- ⁸ Mootiin Waan Maraa dansa'aa fi
balchaa waan te'eef,
inni cubbaaleyyii daandii ifii barsiisa.
- ⁹ Inni worra gad ifi qabu haqaan sooressaa,
karaa ifille isaan hin barsiisa.
- ¹⁰ Worra gondoaroo isaatii fi ajaja isaa eegatanuuf,
Mootiin Waan Maraa
jaalala ifii ka bara baraatii fi
addatamummaa hin mudhisa.
- ¹¹ Yakkaan tiyya bacaa waan teeteef,
ee Mootii Waan Maraa,
maqaa keetiif jedhii naaf araarami.
- ¹² Nami Mootii Waan Maraa sodaatu eennu?
Mootiin Waan Maraa
karaa inni filatu'uu male isa hin barsiisa.
- ¹³ Inni jiruu dansaa hin jiraata;
sanyiin isaalle lafa hin dhaalti.
- ¹⁴ Mootiin Waan Maraa
worra isa sodaatu dhossaa ifii itti hima;
inni gondoaroo ifii
akka isaanitti beekkantu hin godha.
- ¹⁵ Mootiin Waan Maraa
miila kiyya tiyyoo keessaa waan baasuuf,
ilti tiyya yennaa mara gara isaa ilaalti.
- ¹⁶ Ani qofuu waan jiruuf,
cunqurfamaalle waan te'eef,
fuula keeti gara kiyya deebifadhuu,
naaf mararfadhu.
- ¹⁷ Rakkinni kiyya bindilla'a;
farra tiyya jalaa na baasi.
- ¹⁸ Rakkinnaa fi farra tiyya ilaali;
cubbuu tiyya mara naa araarami.
- ¹⁹ Diinoti kiyya attam attam akka bacatanu ilaali;
attam akka isaan na jibbanulle ilaali.
- ²⁰ Na eegi; na baasi;
Ani waan sitti baqadheef,

- akka ani fukkifadhu na hin godhin.
²¹ Ani addi'in waan si eegadhuuf,
 addatamumma'aa fi qajeelummaan na eeganuu ti;
²² Ee Waaqa, rakkinna isi'ii mara keessaa
 kolbaa Israa'elii wodi.

26

Daadimata Nama Komii hin qannee

Faaruu Daawitii.

- ¹ Ani komii tokko malee,
 sitti addadhee raafama malee waan le'eef,
 Ee Mootii Waan Maraa, naaf muri.
² Ee Mootii Waan Maraa,
 na qorqori, hagalle na ilaali;
 gadhaa kiyyaa fi qalbii tiyya qorqori.
³ Jaalalli keeti ka bara baraa
 ila tiyya dura jira;
 anille dhugaa teetiin hin ideema.
⁴ Ani sobaaleyyii waliin hin tee'u;
 worra kijiboolee jaala hin godhadhu.
⁵ Ani yaa'ii worra hantuu hujuu hin jibba;
 hamaaleyyii wolille'een hin tee'u.
⁶ Yakkaa akka hin qanne mudhisiisaaf,
 harka dhiqadha;
 Ee Mootii Waan Maraa,
 addee ciinca'aa teeti cinaa mara.
⁷ Faaruu galataa guddisee faarfataa,
 hujii maade'ee teeti hin odeessa.
⁸ Ee Mootii Waan Maraa, mana keeti addee ati leetu,
 addee ulfinni keeti jiru, ani hin jaaladha.
⁹ Lubbuu tiyya cubbaaleyyii waliin,
 jiruu tiyya worra dhiiga namaa dhangalaasu waliin
 hin balleessin.
¹⁰ Harka worra akkasii keessa karoora hama'atti jira;
 harka isaanii middicha keessa safu'utti* guuteera.
¹¹ Ani ammoo komii malee le'a;
 na wodi; na mararfadhu.
¹² Miilli kiyya lafa wol qixxee irra dhaabbateera;
 gumii guddoo keessatti
 ani Mootii Waan Maraa leellisa.

27

Daadimata Waaqatti Addatiisaa

Faaruu Daawitii.

- ¹ Mootiin Waan Maraa ifa kiyyaa fi fayyinna kiyya;
 ani eennu sodaadha ree?
 Mootiin Waan Maraa kushee jiruu tiyyaa ti;
 eentu na sodaachisa ree?
² Worri hamaaleyyiin foon kiyya nyaatiisaaf

* **26:10 Safuu:** Yookiin malaamaltumma.

- yennaa natti dhufanu,
 diinoti kiyyaa fi nyaapholeen tiyya
 yennaa na lolanu,
 isaanuu gufatanee hin jigan.
- ³ Loltooti duudiin na marsanulle,
 ani hin sodaadhu;
 lolli yoo natti ka'elle,
 ani Mootuma Waan Maraa addadha.
- ⁴ Ani waan tokko Mootii Waan Maraa gaafadha;
 isiille dhaggatuu barbaada:
 bara jiruu tiyyaa mara
 mana Mootii Waan Maraa keessa akka le'u,
 dansummaa isaa akka dhaggu,
 Dunkaanii Woyyittii isaa keessatti
 akka isa barbaadadhu.
- ⁵ Inni guyyaa rakkinnaa
 mana ifii keessatti na hin eega;
 Dunkaanii Woyyittii ifii keessatti na hin dhossa;
 rassaa irratti ol na hin baasa.
- ⁶ Achiin duuba diinota na marsaneeranu irratti
 mataan kiyya ol hin jedha;
 gammadaa ilillisaa addee dunkaanii isaatitti,
 ciincaa isaaf hin dhikeessa;
 faarfataa, Mootii Waan Maraa hin leellisa.
- ⁷ Ee Mootii Waan Maraa,
 ani yennaa si waamu,
 naa dhage'i;
 naa marariitii,
 daadimata kiyya naa dhage'i.
- ⁸ Gadhaan kiyya,
 «Fuula isaa barbaadi» naan jedhe;
 ee Mootii Waan Maraa,
 ani fuula keeti barbaada.
- ⁹ Fuula keeti na hin dhossin.
- Ati aari'iin ana tajaajilaa keeti
 ifi irraa hin fageessin;
 ati qarqaarsa naaf teeteerta.
- Ee Waaqa fayyisaa kiyya,
 na hin gatin; na hin lakkisin!
- ¹⁰ Abbaan kiyyaa fi haati tiyya
 yoo na lakkisanelle
 Mootiin Waan Maraa kiyya na hin fudhata.
- ¹¹ Ee Mootii Waan Maraa,
 karaa keeti na barsiisi;
 ani diinota hedduu waan qabuuf,
 daandii qajeelaa irra na soressi.
- ¹² Dhugaa baatoti dharaa
 hunnaan waan na irratti ka'aneef,
 fedhii diinota kiyyaatiif
 dabarsitee na hin kennin.
- ¹³ Lafa worra jiraata'aa keessatti
 dansummaa Mootii Waan Maraa
 akka dhaggu hin addadha.

- ¹⁴ Mootii Waan Maraa eegadhu;
jabaadhu; addii hin kutatin;
Mootii Waan Maraa eegadhu.

28

Daadimata Qarqaarsa Dhaggatiisaaf Dhikaate

Faaruu Daawitii.

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa, ani si waammadha;
rassaa kiyya, ati na jalaa hin cadhisin!
Ati yoo na jalaa cadhitte,
ani akka worra boolla awwaalaatitti gad bu'ee hin te'a.
- ² Qarqaarsa dhaggatiisaaf,
harka kiyya gara addee woyyittii woyyootaa teetii ol kaasee,
yennaa ani gara keeti iyyu,
daadimata kiyya naaf dhage'i.
- ³ Worra hamaaleyyii,
ka waan hantuu huju waliin na hin harkisin!
Isaan ollaa ifii waliin
afaaniin dubbii nageyaa dubbatan;
gadhaa ifii keessatti ammoo waan hantuu yaadan.
- ⁴ Ati akka hujii isaaniititti,
akka hujii hantuu isaaniititti gatii isaaniif kenni;
Akka hujii harka isaaniititti isaaniif kenni;
adabbii isaaniif malte isaaniif kenni.
- ⁵ Isaan hujii Mootii Waan Maraa
yookiin hujii harka isaa waan hin ilaalleef,
inni isaan hin diiga malee,
deebi'ee isaan hin ijaaru.
- ⁶ Iyya tiyya waan dhage'eef,
Mootiin Waan Maraa leellifamu.
- ⁷ Mootiin Waan Maraa jabeenna kiyya;
wontee tiyyalle'e;
ani isatti addadha.
Inni waan na qarqaaree na gammachiiseef,
ani faaru'uun isa hin galateessa.
- ⁸ Mootiin Waan Maraa
kolbaa ifiitiif jabeenna isaanii ti;
ka ifii muudeef kushee fayyinnaa ti.
- ⁹ Ee Mootii Waan Maraa,
kolbaa teeti baasi;
worra keeti te'ane eebbisi;
tissee isaanii te'iitii,
haga bara baraa isaan ba'adhu.

29

Hunna Mootii Waan Maraa

Faaruu Daawitii.

- ¹ Isin ergantooti Waaqaa,
ulfinnaa fi hunna Mootii Waan Maraa leellisa'a.
- ² Ulfinna maqaa isaatiif,
Mootii Waan Maraa leellisa'a;
Arnya woyyummaa isaatiif,

Mootii Waan Maraa waqonfadha'a.

- ³ Qoonqoon Mootii Waan Maraa
abbaayaa guddittii irraa dhage'anti;
Waaqi ulfinnaa, Mootiin Waan Maraa
abbaayaa irraa mandi'a.
- ⁴ Qoonqoon Mootii Waan Maraa hunnaametti'i;
qoonqoon Mootii Waan Maraa arnya qabeetti'i.
- ⁵ Qoonqoon Mootii Waan Maraa
hindheensa caccassiti;
Mootiin Waan Maraa
hindheensa Libaanoniituu hin caccassa.
- ⁶ Inni gaara Libaanonii akka jabbi'ii,
gaara Siiriyoniille*
akka ilmee gafarsaa hin burraassisa.
- ⁷ Qoonqoon Mootii Waan Maraa
balaqqeettii balaqqitti.
- ⁸ Qoonqoon Mootii Waan Maraa
goomolee tachootti;
Mootiin Waan Maraa
goomolee Qaadeshii hin tachoosa.
- ⁹ Qoonqoon Mootii Waan Maraa
qilxaan akka hargufamu gooti;
baala muka badda'aa hin harcaatti;
worri addee inni jiruu martinuu,
«Ulfinni Mootii Waan Maraatiif te'u!» jedhan.
- ¹⁰ Mootiin Waan Maraa qilee abbaaya'aalle bulcha;
Mootiin Waan Maraa haga bara baraa hin bulcha.
- ¹¹ Mootiin Waan Maraa kolbaa ifitiif jabeenna kenna;
nageyalle'een isaan eebbisa.

30

Daadimata Galataa

Faaruu Daawitii ta eebba manaatiif Faarfante.

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa, ati qilee keessaa na baattee,
diinoti kiyya na irratti akka hin gammanne waan gooteef,
ani guddisee si galateeffadha.
- ² Ee Mootii Waan Maraa Waaqa kiyya,
akka na qarqaartuuf gara keetti iyyee,
atille na fayyitteerta.
- ³ Ee Mootii Waan Maraa,
ati lubbuu tiyya boolla awwaalaa keessaa baatteerta;
akka ani boollatti gad hin buune na hamburteerta.
- ⁴ Isin worri isaaf addatantane,
Mootii Waan Maraa faaru'uun leellisa'a;
maqaa isaa woyyichalle,
galateessa'a.
- ⁵ Aariin isaa yennaa diqqoo qofa;
tolli isaa ammoo bara jiru'uu mara.
Halkan bowaa yoo bulane,

* 29:6 Gaara Siiriyonii: Gaarri kun gaaruma Herimonii ti.

ganama ammoo ililleessi hin te'a.

- ⁶ Yennaa natti tole, ani ifiin,
«Ani ijjumaa hin raafamu» jedhe.
- ⁷ Ee Mootii Waan Maraa,
arnya keetiin,
akka gaara jabaa tokkoo na goote;
yennaa fuula keeti na duraa dhossite ammoo
guddoo sodaadhe.
- ⁸ Ee Mootii Waan Maraa,
ani si waammadhee,
akka na marartuuf si gaafadhee,
- ⁹ «Du'a tiyya irraa maan dhaggatta?
Ani yoo boollatti gad bu'e bu'aan maan?
Worri du'eeru si hin leellisaa?
Isaan addatamummaa teeti hin himanii?
- ¹⁰ Mootii Waan Maraa,
naa dhage'i; naa marari;
Mootii Waan Maraa,
na qarqaar» jedhe.
- ¹¹ Ati gadda kiyya gara sirbaatitti jijjiirte;
woyaa gaddaa na irraa fuutee,
gammada natti uffitte.
- ¹² Yoona, ani hin cadhisu;
faaru'uun si leellisa.
- Ee Mootii Waan Maraa Waaqa kiyya,
ani haga bara baraa si galateessa.

31

Daadimata Waaqatti Adddatiisaa

Faaruu Daawitii, sooressa faarfattootaatiif.

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa,
ani sitti baqadheera;
ani ijjumaa hin fokkifatin;
balchummaa teetiin na baasi.
- ² Gurra keeti gara kiyya deebifadhu;
ariifadhuu na baasi.
Rassaa ani itti baqadhu,
na baasiisaaf, kushee jadduu naaf te'i.
- ³ Ati rassaa kiyyaa fi kushee tiyya;
maqaa keetiif jedhii na sooressi;
naan duralle deemi.
- ⁴ Ati addee ani itti baqadhu waan teeteef,
tiyyoo diinoti naaf afane jalaa na baasi.
- ⁵ Ee Mootii Waan Maraa, Waaqa addatama'a,
ati na wodatteerta;
anille lubbuu tiyya harka keetitti kennadha.
- ⁶ Ani worra waaqota dharaa waaqonfatu hin jibba;
ammoo Mootii Waan Maraatitti hin addadha.
- ⁷ Sababa jaalala keeti ka bara baraatiif,
ani gammadee hin ilillisa.
- Ati farra tiyya dhaggiteerta;
rakkoo tiyyalle beetteerta.

⁸ Ati harka diinotaatitti dabarsitee na hin kennine;
miila kiyya ammoo addee badhoo dhaabbachiitte.

⁹ Ee Mootii Waan Maraa,
ani rakkatiisatti waan jiruuf,
naa marari;
bowa guddo'oon ilti tiyya dadhaddeerti;
lubbuun tiyyaa fi nafi kiyyalle gaddaan dadhabeera.

¹⁰ Barri jiruu tiyyaa gaddaan,
woggaan tiyya aadiisaan dabaraneeran;
sababa rakkoo tiyyaatiif hunna dhabe;
lafeen tiyyalle dadhadde.

¹¹ Diinoti kiyya marti natti murgane;
ollaani kiyyalle irra caalaa natti murge;
worri na beeku natti fokkifata;
worri karaa irratti na dhaggu na irraa baqata.

¹² Akka nama du'ee dedhame;
akka okkotee caddee te'e.

¹³ Ani hasaassaa nama heddu'uu waan dhage'uuf,
adaala kiyya mara soda'atti jira.

Isaan wolitti qabamanee na irratti mari'atan;
na ijjeesiisaafille mala dhowan.

¹⁴ Ee Mootii Waan Maraa,
ani ammoo si'itti addadha;
«Ati Waaqa kiyya» jedha.

¹⁵ Ani yennaa mara harka keeti keessa jira;
harka diinota kiyyaatiif fi
worra na ari'u jalaa na baasi.

¹⁶ Fuulli keeti ana tajaajilaa keetitti ifuu ti;
jaalala keeti ka bara baraatiin na baasi.

¹⁷ Ee Mootii Waan Maraa,
ani waan si waammadheef,
akka fokkifadhu na hin godhin.

Worri hamaaleyyiin fokkifatuu ti;
gara addee worri du'e jirutti gad bu'anee
cadhisannu ti.

¹⁸ Afaan dharaamessi kooraa fi tuffi'iin
nama balchaa irratti dubbatu cadhisuu ti.

¹⁹ Wonni dansaan ta ati worra si sodaatuuf massite,
dansummaan ta ati ilmaan namootaa duratti,
worra sitti baqatuuf mudhitte,
attam attam guddo'o!

²⁰ Ati mala nami dhowu duraa
bobaa teeti jalatti,
jechoota hamaa duraa
dunkaanii teeti keessatti isaan dhossita.

²¹ Yennaa ani qachaa marfame keessa jiru
Mootiin Waan Maraa
jaalala ifii ka bara baraatiin waan na jaalateef,
inni leellifamu.

- ²² Ani yennaa rifadhe,
 «Fuula keeti duraa gatameera» jedheeraayyu.
 Ati ammoo yennaa ani gara keeti iyye,
 iyya tiyya naa dhageette.
- ²³ Isin worri isaaf woyyoontane marti,
 Mootii Waan Maraa jaaladha'a.
 Mootiin Waan Maraa worra addatamaa hin eega;
 worra kooru ammoo ijjumaa hin adaba.
- ²⁴ Isin worri Mootii Waan Maraatiitti addii godhattanu marti,
 jabaadha'a; jajjabaadha'a.

32

Cubbuu faaci'atiisaa Fi Araara

Wolaloo Daawitii.

- ¹ Nami cubbuu isaatiif araarri kennameef,
 ka yakkaan isaa lakkifanteef ka gammade.
- ² Nami Mootiin Waan Maraa cubbuu itti hin laakkonne,
 ka soba ifi keessaa hin qanne ka gammade.
- ³ Ani yennaa cubbuu tiyya faaci'atuu dhabe,
 guyyaa guutuu aada.
- ⁴ Ati halkanii fi guyyaa na adadde;
 akka waan o'i bonaa gossee,
 hunni tiyya na keessaa godde.
- ⁵ Achiin duuba ani cubbuu tiyya sitti dhugaa baase;
 yakkaa tiyyalle hin dhoffanne.
 Ani «Cubbuu tiyya Mootii Waan Maraatiitti dhugaa baasa» jedhe;
 atille cubbuu tiyya naaf araarante.
- ⁶ Tanaaf, nami addatamaan marti
 gara keeti daadimatuu ti.
 Rakkinni akka lolaa jaba'aa yennaa dhufe,
 isa hin dhaqqabu.
- ⁷ Ati addee ani itti dhokadhu;
 ati rakkinna irraa na eedda.
 Ati ililleettii worra bayiisa kiyyatti firinxiixuun na marsite.
- ⁸ Mootiin Waan Maraa,
 «Ani karaa ati deemu'uu malte
 si hubachiisee si barsiisa;
 si gorsa; si toowadha.
- ⁹ Ati akka fardaa fi gaange'ee,
 ka wo hin beennee hin te'in!
 Bixaalaa fi lugaamaan ifitti yoo harkitte malee,
 isaan sitti hin dhikaatanu» jedhe.
- ¹⁰ Farri worra cubbaaleyyi'ii heddu'u;
 nama Mootii Waan Maraatiitti addatu ammoo
 jaalalli isaa ka bara baraa isa hin marsa.
- ¹¹ Isin balchooleen
 Mootii Waan Maraatiin gammada'aa ilillisa'a!
 Isin worri gadhaa qajeela'aa ilillisa'a.

33

Faaruu Leellisaa

- ¹ Isin balchooti Mootii Waan Maraatiin gammada'a.
Worri qajeelaan isa leellisuu barbaachisa.
- ² Maasingo'oon Mootii Waan Maraa leellisaa!
Kiraara guddicha ribuu kudhaniitiin isaaf faarsa'a.
- ³ Faaruu haareya isaaf faarsa'a;
kiraara guddicha akka dansaa dhowa'a;
gammadaan, «Ilili!» jedha'a.
- ⁴ Jechi Mootii Waan Maraa dhuga'a;
Mootiin Waan Maraa hujii ifii maraan addatama'a.
- ⁵ Mootiin Waan Maraa balchumma'aa fi haqa jaalata;
Latti jaalala isaa ka bara baratiin guutanteerti.
- ⁶ Ol-gubbaan jecha Mootii Waan Maraatiin,
aduun, ji'aa fi urjooti ajaja isaatiin dadamane.
- ⁷ Inni bisaan abbaaya'aa addee tokkotti wolitti qaba;
abbaayaa gugurdoo qilee te'ane
addee itti kuufamanutti kuusa.
- ⁸ Biyyi lafaa marti Mootii Waan Maraa sodaattuu ti;
kolbaan biyya lafaa marti isaaf sheephittuu ti.
- ⁹ Inni dubbate, wonni inni dubbatelle dadante;
inni ajaje, wonni inni ajajelle teete.
- ¹⁰ Mootiin Waan Maraa
karoora gosa biyya adda addaa hin diiga;
inni yaadi kolbaa heddu'uu
hujii irra akka hin oolle godha.
- ¹¹ Karoorri Mootii Waan Maraa ammoo
bara baraan jabaatee dhaabbata;
yaadi isaalle dhaloota irraa gara dhalootaa dabara.
- ¹² Gosi Waaqi Mootii Waan Maraa te'eef,
kolbaan inni ifiif filate gammadduu ti.
- ¹³ Mootiin Waan Maraa ol-gubbaa irraa gad ilaala;
inni nama duudii dhagga.
- ¹⁴ Barcumaa mootummaa ifii irraa
inni worra lafa irra jiru mara dhagga.
- ¹⁵ Inni ka qalbii isaanii mara dade,
waan isaan hujanu mara hin beeka.
- ¹⁶ Mootiin loltoota ifii guddo'oon hin bayu;
jannille jabeenna ifii gudda'aan hin miliqu.
- ¹⁷ Fardi lolaa injifatiisaaf addii bu'aa hin qanne;
jabeenni guddaan isaalle nama baasuu hin dande'u.
- ¹⁸ Ilti Mootii Waan Maraa ammoo worra isa sodaatu,
worra jaalala isaa ka bara baraatitti addatu ilaalti.
- ¹⁹ Inni du'a irraa isaan hambura;
bara beelaalle jiru'uun isaan eega.
- ²⁰ Lubbuun teenna addi'iin Mootii Waan Maraa eegatti;

inni qarqaraa keenna; wontee teennalle'e.

²¹ Maqaa isaa woyyichatti waan addannuuf,
gadhaan keenna isatti gammada.

²² Ee Mootii Waan Maraa,
akkuma nuuti addii si godhane,
jaalalli keeti ka bara baraa nu irratti te'uu ti.

34

Leellisa Mootii Waan Maraatiif Dhikaatu

Daawiti akka maraata'aa te'ee, Abiimelek dura waan dhikaateef, Abiimelek isa ariinaan, yennaa achii deeme faaruu Daawiti faarfate.

¹ Ani yennaa mara Mootii Waan Maraa hin leellisa;
isa saadiisille yennaa mara afaan kiyyaa hin bu'u.

² Ani Mootii Waan Maraatiin ifi jaja;
worri cunqurfame dhage'ee gammaduu ti.

³ Na woliin guddinna Mootii Waan Maraa odeessa'a;
maqaa isaa tokkumma'aan leellinnuu ti.

⁴ Ani gara Mootii Waan Maraa daadimadhee,
innille deebii naa kenne;
waan sodaadhu mara jalaa na baase.

⁵ Worri gara isaa ilaalu,
fuulli isaanii hin ifa;
isaan hin salphatanu.

⁶ Namichi rakkataan kun isa waame,
Mootiin Waan Maraalle isaaf dhage'e;
rakkinna isaa mara keessaa isa baase.

⁷ Ergamaan Mootii Waan Maraa
adaala worra isa sodaatuu hin qubata;
inni balaa jalaa isaan hin baasa.

⁸ Mootiin Waan Maraa attam attam dansaa akka te'e
qorqora'aatii ilaala'a;
nami isatti baqatu ka gammade.

⁹ Worri Mootii Waan Maraa sodaatu
womaa waan hin dhanneef,
isin worri isaaf woyyoontane,
Mootii Waan Maraa sodaadha'a.

¹⁰ Dardarooti neenqaatuu dhabanee hin beelotan;
worri Mootii Waan Maraa barbaadu ammoo
waan dansaa hin dhabu.

¹¹ Ee ijoolle! Gara kiyya kowa'aatii, na caqasa'a;
ani Mootii Waan Maraa sodaatiisa isin hin barsiisa.

¹² Ka jiruu jaalatu,
waan dansaa dhaggiisaafille
bara hedduu ka halchu eennu?

¹³ Arraba keeti waan hantuu irraa,
hidhii teeti soba dubbatiisa irraa eegadhu.

¹⁴ Waan hantuu irraa fagaadhuutii,
waan dansaa godhi;
nageya barbaadiitii,

gula deemi.

- ¹⁵ Ilti Mootii Waan Maraa
gara balchoole'ee ilaalti;
gurri isaalle iyya isaanii caqasa.
- ¹⁶ Mootiin Waan Maraa
worra waan hantuu huju hin morma;
lafa irratti akka isaan hin qaabatanne godha.
- ¹⁷ Yennaa balchooleen gara isaa iyyitu,
Mootiin Waan Maraa isaaniif hin dhage'a;
inni rakkinna isaanii mara keessaa
isaan hin baasa.
- ¹⁸ Mootiin Waan Maraa
worra guddoo gaddeeruuf dhikoo jira;
inni worra addii kutateeru hin baasa.
- ¹⁹ Rakkoon balcha'aa baca'a;
Mootiin Waan Maraa ammoo
waan mara keessaa isa hin baasa.
- ²⁰ Inni lafee isaa mara hin eega;
lafee isaa keessaa takkaalle hin caddu.
- ²¹ Hammeenni nama hamaa hin ijjeesa;
worra nama balchaa jibbu
yakkaan itti hin muranti.
- ²² Mootiin Waan Maraa
jiruu tajaajiltoota ifii hin woda;
worra gara isaa baqatu keessaa
tokkolle'etti yakkaan itti hin murantu.

35

Diinota Jalaa Bayiisaaf Daadimata Dhikaate

Faaruu Daawitii.

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa,
worra natti ka'u irratti ka'i;
worra na lolu loli.
- ² Wontee teetii fi meya lolaa keeti fudhadhuu
na qarqaariisaaf koy.
- ³ Worra na ari'utti ebo'oo fi urdee teeti fudhadhuutii,
lubbuu tiyyaan, «Ani fayyisaa keeti» jedhi.
- ⁴ Worri na ijjeesiisaaf barbaadu
fokkifatee qanowuu ti.
Worri mala natti dhowu
gara duubaa deebi'ee salphatuu ti.
- ⁵ Ergamaan Waaqaa isaan ari'uun,
akka huura qilleensi afuufuu te'anuu ti.
- ⁶ Ergamaan Mootii Waan Maraa isaan ari'uun
karaan isaanii dukkanaa fi mucucoo te'uu ti.
- ⁷ Isaan sababa tokko malee
tiyyoo dhossa'aan naaf afanee,
na qabiisaaf boolla qotaneeran.
- ⁸ Adoo hin beekin
badiin isaan irratti dhuttuu ti.

- Tiyyoon isaan dhossane
isaanuma qadduu ti;
Boolla qotane keessa bu'anee badanuu ti.
- ⁹ Lubbuun tiyya
Mootii Waan Maraatiin hin gammaddi;
fayyisiisa isaatiin gammaddee firinxiixxi.
- ¹⁰ Gadhaa kiyya tokkochaan,
«Ee Mootii Waan Maraa,
dadhaboolee
worra guddoo jajjabaa harkaa,
dadhaboole'ee fi hiyyeeyyiille
saantota harkaa ka baasu
ka akka keetii eennu?» jedha.
- ¹¹ Dhugaa baatoti dharaa natti ka'ane;
marroo waan ani hin beennee na gaafatane.
- ¹² Qofi-galeessa na godhanee
waan dansaa ani godheef,
hantuu naaf deebisane.
- ¹³ Ani ammoo yennaa isaan dhibamane,
woyaa gaddaa uffadhe;
laamiisaan ifi rakkise;
daadimati kiyyalle deebii dhabee,
¹⁴ akka waan jaalaaf
yookiin obboleessaaf gadduutitti gadde;
akka nama haadha ifitiif bowuu,
mataa gad qabadhee bowe.
- ¹⁵ Yennaa ani gufadhe ammoo,
isaan gammadane;
dedhuma dhufanee
sababa malee arrabaan na kukkutane.
- ¹⁶ Akkuma worri Waaqa malee le'u godhu,
natti murgane;
ilkaan natti ciniinnatane.
- ¹⁷ Ee Gootta'a,
haga yoomii cadhittee na ilaalta?
Worra na miidhu,
ka akka neenqaa kana jalaa na baasi.
- ¹⁸ Achiin duuba ani kolbaa teeti keessatti
si hin galateeffadha;
kolbaa bacaa keessatti si hin leellifadha.
- ¹⁹ Worri akkasumaan diina natti te'u,
natti hin gammadin;
worri akkasumaan na jibbu
na irratti ilaan wolitti hin qiphifatin.
- ²⁰ Isaan dubbii nageyaa hin dubbatanu;
worra biyya keessa nageyaan le'u irratti
dubbii dharaa yaadanee qopheessan.
- ²¹ Isaan, «Baga waan ati hujje dhaggine!» jedhaa,
afaan natti banan.
- ²² Ee Mootii Waan Maraa, ati tana dhaggiteerta,
hin cadhisin!

- Ee Gootta'a, na irraa hin fagaatin!
²³ Ee Gootta'a, Waaqa kiyya dammaqi!
 Na irraa dhooggiisaaf ka'i!
 Haajaa kiyyaaf loli.
²⁴ Ee Mootii Waan Maraa, Waaqa kiyya,
 balchummaa teetiin naaf muri;
 diinoti kiyya natti hin gammadin.
²⁵ Isaan, «Halchaa gadhaa keennaa
 бага dhaganne!
 Nuuti ijjumaa isa balleessineerra» hin jedhin.
²⁶ Worri rakkinna kiyyatti gammadu marti
 fokkifatane qaanowanuu ti;
 worri na irratti ifi saadu marti
 fokko'oo fi salphinna uffatuu ti.
²⁷ Worri mura haqaa
 dhaggatiisa kiyyatti gammadu marti
 gammadaan ilillisanuu ti;
 isaan «Mootiin Waan Maraa gudda'a!
 Inni yennaa tajaajilaan nageya dhaggatu
 hin gammada!» jedhanuu ti.
²⁸ Arrabi kiyya balchummaa teetii dubbataa,
 guyyaa guutuu si hin leellisa.

36

Hammeenna Namaatii Fi Arjummaa Waaqaa

Faaruu Daawitii tajaajilaa Mootii Waan Maraa, soorressa faarfattootaatiif.

- ¹ Cubbuun nama hamaa gadhaa ifii keessatti
 hammeenna akka yaadatu gooti;
 Inni ijjumaa Waaqa hin sodaatu.
² Inni yakkaa ifii dhaggee akka hin jibbine,
 ifumaan ifi sossoba.
³ Dubbiin afaan isaa hammeennaa fi
 dharaan guutanteerti;
 inni qarumma'aan hujiisaa fi
 waan dansaa godhiisa lakkiseera.
⁴ Inni rifanoo irra adoo jiruu hantuu yaadata;
 karaa hamaa ideema;
 waan hantuu hin didatu.
⁵ Ee Mootii Waan Maraa,
 jaalalli keeti ka bara baraa haga ol-gubba'aa,
 addatamummaan teetille
 haga duumensaa hin dhaqqaddi.
⁶ Ee Mootii Waan Maraa,
 balchummaan teeti akka gaarota gugurda'aa ti;
 muraan teeti akka gad fageenna abbaaya'aa ti;
 ati namaa fi horii,
 bineensalle hin eedda.
⁷ Ee Waaqa, jaalalli keeti ka bara baraa
 attam attam ka gatii guddoo qabu!
 Kolbaan marti gaaddisa koola keetii jalatti baqatti.

- ⁸ Isaan sagalee bacaa mana keetii nyaatan;
ati laga keeti gammachiisaa irraa
bisaan isaaniif kennita.
- ⁹ Ati madda jiru'uu ti;
nuuti ifa keetiin ifa dhaggina.
- ¹⁰ Worra si beekuuf, jaalalli keeti ka bara baraa,
worra gadhaa-qajeela'aatiif
balchummaan keeti irraa hin citin.
- ¹¹ Miilli worra kooruu na hin dhiitin,
harki worra hamaaleyyi'ii na hin ari'in.
- ¹² Worri hamaaleyyiin attam akka jigane ilaali;
isaan jiganeeran, ka'uu hin dande'anuu.

37

Hiree worra Balcha'aatii Fi worra hama'aa

Faaruu Daawitii.

- ¹ Sababa worra hama'aatiif hin aarin;
worra cubbuu huju hin hinaafin.
- ² Isaan akka marraa ariifatane hin gogan;
akka baala bisile'ee hin qooran.
- ³ Mootii Waan Maraatitti addadhuu waan dansaa godhi;
biyya keessa nageyaan le'i.
- ⁴ Mootii Waan Maraatitti gammadi;
inni halchaa gadhaa keetii si'iif hin kenna.
- ⁵ Karaa keeti Mootii Waan Maraatitti kennadhu;
isa addadhu; innille si'iif hin milkeessa.
- ⁶ Inni balchummaa teeti akka ifaa,
haqa haajaa keetii akka aduu saafowaa hin godha.
- ⁷ Mootii Waan Maraa duratti cadhisiitii,
ossaan isa eeggadhu;
worra hamaaleyyii
yaad hamaan isaanii toleef itti hin aarin.
- ⁸ Aarii irraa ifi dhooggi; mufii irraa deebi'i.
Aariin gara hammeennaa qofa si geessitii, hin aarin.
- ⁹ Worri hamaaleyyiin hin badan;
Worri Mootii Waan Maraa eegatu ammoo
lafa hin dhaalan.
- ¹⁰ Nami hamaan yennaa diqqo'oon duuba,
achitti hin dhaggamu.
Ati isa hin barbaadda, ammoo hin dhaggitu.
- ¹¹ Worri gad ifi qabu lafa hin dhaalan;
nageya gudda'aan hin gammadan.
- ¹² Nami hamaan nama balchaa irratti mala dhowa;
ilkaan itti ciniinnatta.
- ¹³ Guyyaan nami hamaan sun badu
akka dhufaaru waan beekuuf,
Gootaan ammoo itti kolla.
- ¹⁴ Worri hamaaleyyiin,

- worra hiyyeeyyi'ii fi worra deega ijjeesiisaaf,
 worra qajeelaa qaliisaaf,
 shallaagaa ifii buqqifatan;
 guubeelle qopheeffatan.
- 15 Shallaagaan isaanii ammoo
 gadhuma isaanii hin woraana;
 guubeen isaaniille hin caccaddi.
- 16 Karra nama hama'aa hedduu caalaa,
 karra nama balcha'aa diqqoo woyya.
- 17 Hunni worra hamaaleyyi'ii hin caddi;
 worra balchoolee ammoo
 Mootiin Waan Maraa hin utuba.
- 18 Mootiin Waan Maraa
 worra komii hin qanne guyyuma guyya'aan eega;
 kennansi inni isaanii kenne
 haga bara baraa hin badu.
- 19 Isaan yennaa hantuu keessalle hin salphatanu;
 bara beelaalle hin quufan.
- 20 Worri hamaaleyyiin ammoo hin badan;
 diinoti Mootii Waan Maraalle
 akka marra diidaa hin dhumatan;
 isaan akka aaraa hin badan.
- 21 Nami hamaan liqaa hin deebisu;
 nami balchaan ammoo arjumma'aan kenna.
- 22 Worri Mootiin Waan Maraa eebbise lafa dhaalan;
 Worri Mootiin Waan Maraa abaare ammoo hin badan.
- 23 Mootiin Waan Maraa
 karaa namaatitti yennaa gammade,
 karaa isaaf akeekke, ijjata isaa jabeessa.
- 24 Mootiin Waan Maraa harka ifitiin isa waan qabuuf,
 yoo gufatelle hin jigu.
- 25 Ani dur dargageessa; amma dulloomeera;
 ani Mootiin Waan Maraa nama balchaa gateeruun,
 yookiin ijoolleen isaa sagalee kadhattuun
 ijjumaa dhaggee hin beeku.
- 26 Nami balchaan yennaa mara arjumma'aan kenna;
 hin liqeessalle'e;
 sanyiin isaalle worra dhibi'iif eebba hin teeti.
- 27 Waan hantuu irraa deebi'ii, waan dansaa godhi;
 bara dheeraa hin leeta.
- 28 Mootiin Waan Maraa
 muraa dhuga'aa waan jaalatuuf,
 inni worra isaaf addatamu hin lakkisu.
 Inni haga bara baraa nageyaan isaan eega;
 sanyiin worra hamaaleyyi'ii ammoo hin baddi.
- 29 Worri balchooleen lafa hin dhaalan;
 lafa san keessalle bara dheeraa hin le'an.
- 30 Afaan nama balcha'aa qarummaa odeessa;
 arrabi isaa haqa dubbata.
- 31 Seerri Waaqaa qalbii isaa keessa jira;
 miilli isaalle hin fallaadu.

- 32 Nami hamaan nama balchaa riphee gaada;
ijjeesiisaaf isa barbaada.
- 33 Mootiin Waan Maraa ammoo
harka diinaatitti isa hin kennu;
muraa dura yennaa dhikaate,
yakkaan akka itti murantu hin godhu.
- 34 Mootii Waan Maraa addi'in eegadhu;
karaa isaalle eegadhu;
inni lafa si dhaalchisiisaaf ulfinna si'iif hin kenna;
badii worra hamaaleyyi'iille hin dhaggita.
- 35 Ani nama hamaa hunnaan nama irratti ka'u
ka akka muka lafa itti toltu irra jiruu tokko
dagaageeruun dhagge.
- 36 Eega san yennaa achiin dabaru, adde'ee dhabe;
ani isa barbaade,
ammoo isa dhagguu hin dandeenne.
- 37 Nama komii hin qanne ilaali;
nama balchichaa hubadhu;
nama nageellicha muummeen isaa hin baddu.
- 38 Cubbaaleyyiin ammoo ijumaa hin badan;
muummeen isaaniille hin baddi.
- 39 Mootiin Waan Maraa balchoolee hin baasa;
yennaa rakkinnaa addeen isaan itti baqatanu isa.
- 40 Isaan Mootii Waan Maraatitti waan baqatanuuf,
inni isaan qarqaaree, isaan baasa;
inni harka worra hamaaleyyi'ii irraa
isaan baasee, isaan hambura.

38

Daadimata Yennaa Rakkinnaa

Faaruu Daawitii ta akka Waaqi isa qaabatuuffaarfatante.

- 1 Ee Mootii Waan Maraa, aari'in na hin xixin;
mufi'in na hin adabin.
- 2 Daayi keeti na woraaneera;
harki keeti gad na qabe.
- 3 Sababa mufii teetiitiif, nafi kiyya dhibameera;
sababa cubbu'uutiif, lafeen tiyya fayyaa hin qaddu.
- 4 Yakkaan tiyya mataa kiyya irra dabarteerti;
isiin akka ba'a'aa guddoo natti ulfaatteerti.
- 5 Sababa gowwummaa tiyyaatiif,
madaan tiyya shantee ajootti.
- 6 Ani gad jedhee, guddoo gugguufe;
guyyaa guutuu bowaa daaqe.
- 7 Hidhi kiyya waan na o'eef,
nafi kiyya fayyaa hin qabu.
- 8 Ani dadhabee, ijumaa bututeera;
gadhaan waan na raafameef aada.
- 9 Ee Goottaa kiyya, ati halchaa tiyya mara beetta;
aadiisi kiyya si duraa dhokatee hin jiru.

- 10 Onneen tiyya na dhowatti; hunni tiyya na laatteerti;
ilti tiyyalle dhagguu dhaddeerti.
- 11 Jaaloti tiyyaa fi lansooti kiyya
sababa madaa tiyyaatiif na irraa baqatane;
firri kiyyaayyuu na irraa fagaatane.
- 12 Worri na ijjeesiisaaf barbaadu tiyyoo natti afan;
worri na miidhiisaaf barbaadu
na balleessiisaaf mari'atan;
isaan guyyaa guutuu mala natti dhowan.
- 13 Ani ammoo akka nama gurra duudee, hin dhage'u;
akka nama afaan duudee, hin dubbadhu.
- 14 Dhugumaan, ani akka nama hin dhageennee,
akka nama deebii deebisuu hin dandeennee ti.
- 15 Ee Mootii Waan Maraa,
ani ammoo addi'iin si eegadha;
Ee Goottaa Waaqa kiyya,
atille deebii naaf hin kennita.
- 16 Ani, «Worri yennaa miilli kiyya mucucaatu na irratti kooru,
akka isaan natti gammadanu hin godhin!» jedhe.
- 17 Ani jiguu geyeera;
yennaa mara ani dhibee woliin jira.
- 18 Yakkaa tiyya hin faaci'adha;
cubbuu tiyyaaf gadda.
- 19 Diinoti kiyya hunnaameyyiin baca'a;
worri sababa malee na jibbu heddu'u.
- 20 Yennaa ani waan dansaa huju
waan hantuu naaf deebisan;
yennaa ani waan dansaa hordofu
isaan na morman.
- 21 Ee Mootii Waan Maraa, na hin lakkisin;
Waaqa kiyya, na irraa hin fagaatin.
- 22 Ee Goottaa fayyisaa kiyya,
na qarqaariisaaf ariifadhuu koy.

39

Jiruu Namaa Gabaadduu

*Faaruu Daawitii, Soorressa faarfattootaa Yedutu'uuf.
(1 Dab. 25:1,3)*

- 1 Ani, «Arraba kiyyaan cubbuu akka hin dubbanne
lafa dhaqu maratti ifi hin eegadha;
haga nami hamaan na bira jiru,
ani womaa hin dubbadhu» jedheera.
- 2 Jecha tokkolle hin dubbatinnu cadhise;
marroo waan dansa'aalle hin dubbanne;
rakkinni kiyya ammoo guddataatuma ideeme.
- 3 Gadhaan kiyya na gubatee,
yaada kiyya keessatti ibiddi gabbate;
achiin duuba ani arraba kiyyaan dubbadhee,
- 4 «Mootii Waan Maraa kiyya, dhuma jiruu tiyyaa,

barri jiruu tiyyaa hagam akka te'e natti himi;
 ani jiruun tiyya
 attam ariifattee dabariisatti akka jirtu beekuu ti!» jedhe.

- ⁵ Ati bara jiruu tiyyaa taakkuu takkaa goote;
 barri jiruu tiyyaa
 si duratti woyitti hin laakkowamu.
 Dhugumaan jiruu nama maraatuu
 akka baafata hafuura tokkoochaa ti.
- ⁶ Dhugumaan nami akka gaaddisaa ti.
 Inni akkanumaan elowa;
 karra tuulata; ammoo ka isii fudhatu hin beeku.
- ⁷ Gootaa kiyya, amma ani maan eegadha ree?
 Addiin tiyya si'i.
- ⁸ Cubbuu tiyya mara jalaa na baasi;
 worri gowwooleen akka natti murganu hin godhin.
- ⁹ Akka akkana rakkadhu ka godhe si waan teeteef,
 ani hin cadhisa; afaan kiyya hin saaqadhu.
- ¹⁰ Dhowicha harka keetiitiin dadhabeera;
 dhowicha keeti na irraa kaasi.
¹¹ Ati sababa yakkaa isaatiif,
 nama xixxee hin adadda;
 akka waan qu'een nyaattee
 karra isaa hin balleessita.
 Dhugumaan nami akka baafata hafuura tokkoochaa ti.
- ¹² Ee Mootiin Waan Maraa,
 daadimata kiyya naa dhage'i;
 iyya tiyyalle caqasi;
 imimmaan tiyyatti hin cadhisin.
 Ani si duratti alaga'a;
 akkuma abbootii tiyya ta durii keessumma'a.
- ¹³ Gara hin deebineti, gara du'aa adoo hin deemin,
 gammada diqqaa akka dhaggadhu,
 nyaara guurtee na hin ilaalin.

40

Faaruu Leellisaa

Faaruu Daawitii, sooreessa faarfattootaatiif.

- ¹ Ani ossaan Mootii Waan Maraa eegadhe;
 innille gara kiyya deebi'ee iyya tiyya dhage'e.
- ² Inni boolla caffa'aa,
 linxixxoo dhoqqe'ee keessaa na baase.
 Inni miila kiyya rassaa irra dhaabbachiisee,
 addee jadduu ani ideemu naa kenne.
- ³ Inni faaruu haareya
 leellisa Waaqa keennaa afaan kiyya keessa keye.
 Worri hedduun tana dhagganee isa sodaatanee,
 Mootii Waan Maraattitti addatan.
- ⁴ Nami Mootii Waan Maraattitti addatu,
 gara worra koorameeyyi'iitii fi,

- dharaameyyi'ii deebi'iisaan ka itti hin addanne,
ka gammade.
- ⁵ Ee Mootii Waan Maraa Waaqa kiyya,
baasa hedduu nuu gooteerta;
ka akka keetii hin jiru!
Ati waan baasaa nuu yaadatteerta.
Laakkossi waan kanaa guddoo baca'a;
ani ijumaa odeessee fixee hin dande'u.
- ⁶ Ati ciinca'aa fi kennansa hin barbaaddu;
horiin addee ciinca'aa irratti akka ciinceffamu,
yookiin ciincaa araara cubbu'uu hin barbaaddu.
Tanaa manna, gurra sii dhage'u naaf kenniteerta.
- ⁷ Tanaaf anille, «Marroo tiyyaaf
kitaaba maramaa keessatti akkuma barreeffante,
kunoo, ani dhufeera;
- ⁸ Waaqa kiyya,
ani fedhii teeti muummessuu halcha;
seerri keeti gadhaa kiyya keessa jira» jedhe.
- ⁹ Ani wolde'a guddicha keessatti,
balchummaa teeti odeessa.
Ee Mootii Waan Maraa,
akkuma ati beettu ani odeessuu ijumaa hin lakkisu.
- ¹⁰ Ani balchummaa teeti gadhaa kiyya keessatti
hin dhossine;
ani addatamummaa teetii fi
fayyisiisa keeti odeesseera.
Wolde'a keeti guddicha duraa
jaala keeti ka bara baraatii fi
addatamummaa teeti hin dhossine.
- ¹¹ Ee Mootii Waan Maraa,
ati marartii teeti na hin dhooggatin;
jaalalli keeti ka bara baraatii fi addatamummaan teeti
yennaa mara na eegannu ti.
- ¹² Rakkoon hedduun haga hin qanne na marsiteerti;
haga ani woy dhagguu dadhabutti,
cubbuun tiyya na liqinsiteerti;
cubbuun tun rifeensa mataa kiyyaa caalti;
anille jajjabaatiisa dadhabeera.
- ¹³ Ee Mootii Waan Maraa, maganne'ee na baasi;
na qarqaariisaaf ariifadhuu koy.
- ¹⁴ Worri na ijjeesiisa barbaadu marti
fokkifatane qaanowanuu ti.
Worri miidhama kiyya halchu marti
salphinnaan gara duuba deebi'anuu ti.
- ¹⁵ Worri, «Baga, бага» naan jedhu,
fokkoo ifitiin nayanee goganuu ti.
- ¹⁶ Worri si barbaadu marti ammoo
si'itti gammadanee ilillisanuu ti;
Worri fayyisiisa keeti jaalatanu marti
yennaa mara,

«Mootiin Waan Maraa gudda'a!» jedhanuu ti.
 17 Akka kiyyatti, ani rakkata'a; dadhabaalle'e;
 Goota'a na hin dedhin.
 Ka na qarqaaruu fi ka na baasu si'i;
 Ee Waaqa kiyya, hin turin.

41

Daadimata Yennaa Dhibe'ee

Faaruu Daawitii, sooressa faarfattootaatiif.

- 1 Nami worra hiyyeeyyi'iif yaadu ka gammade;
 guyyaa rakkinnaa, Mootiin Waan Maraa isa hin baasa.
- 2 Mootiin Waan Maraa isa hin eega;
 jiruulle'een isa hin leesisa;
 inni lafa irratti isa hin gammachiisa;
 halchaa diinotaatiifille dabarsee isa hin kennu.
- 3 Taqee inni dhibamee irra jiru irratti
 Mootiin Waan Maraa isa hin qarqaara;
 fayyisee taqee dhibo'oo irraa isa hin kaasa.
- 4 Ani akka kiyyatti, «Ee Mootii Waan Maraa,
 ani waan si yakkeef,
 na marariitii, dhibee irraa na fayyisi» jedheera.
- 5 Diinoti kiyya waan hantuu na irratti dubbatanee
 «Inni yoom du'a?
 Maqaan isaa yoom bada?» jedhan.
- 6 Worri na ilaaliisaaf dhufu,
 dubbii sobaa haasowan;
 gadhaa ifiititti waan hantuu qabatane,
 yennaa gad bayane, isii odeessan.
- 7 Worri na jibbu marti
 marroo tiyya wolitti hasaasan;
 isaan waan hantuu na irratti yaadaa,
- 8 «Dhukkubi hamaan isa qabeera;
 inni addee irkate sanii deebi'ee hin ka'u» jedhan.
- 9 Jaalli kiyya ka natti dhikaatuuyyuu,
 ka ani itti addadhu,
 ka sagalee na waliin nyaate, na irratti ka'eera.
- 10 Ee Mootii Waan Maraa, ati na marari;
 diinota kiyya akka ani haluu bayu,
 dhibee tiyya irraa ol na kaasi.
- 11 Diinoti kiyya injifachaa na irratti waan hin dhaggatiniif,
 akka ati natti gammadde ani tanaan beeka.
- 12 Sababa dhugaamessummaa tiyyaatiif,
 ati na hin qarqaarta;
 fuula keeti dura haga bara baraa na hin jiraachitta.
- 13 Mootiin Waan Maraa, Waaqi Israa'elii
 bara baraa haga bara baraa leellifamuu ti!
 Ameen! Ameen!

42

(Far. 42–72)

*Daadimata Nama Booji'amee**Wolaloo ilmaan Qoraahii, sooressa faarfattootaatiif.*

- ¹ Akkuma gadansi bisaan yaa'u dharra'u,
Ee Waaqa, anille si dharra'a.
- ² Lubbuun tiyya Waaqa,
Waaqa jiraataa dheebotti;
ani yoom dhaqee fuula isaa
dhagguu dande'a ree?
- ³ Kolbaan yennaa mara,
«Waaqi keeti meet?» waan naan jettuuf,
halkanii fi guyyaa imimmaan sagalee tiyya teeteerti;
- ⁴ Ani gumii san woliin,
gumii jila jilifattu woliin,
ililleetti'ii fi faaruu galataatiin,
gogeessaan sooressaa
gara Galma Waaqaa attam akka deeme yennaa qaabadhu,
gadhaan kiyya gaddaan na bada.
- ⁵ Ee lubbuu tiyya maaf gaddita?
Na keessatti maaf jeeqanta?
Ani deebi'ee Waaqa fayyisaa kiyya waan leellifadhuuf,
Waaqa keetitti addii godhadhu.
- ⁶ Lubbuun tiyya na keessatti gadditeerti;
tanaaf ani lafa Yordaanosiitii fi
kooba Hermoonii irraa,
gaara Mizaarii irralle'ee si qaabadha.
- ⁷ Shookkessa gootuu teetiitiin
qileen qilee waanti;
hunni guddoon danbalii teetii na gubbaa yaate.
- ⁸ Mootiin Waan Maraa guyyaa mara
jaalala ifii ka bara baraa mudhisa;
anille halkan faaruu isaaf dhikeessa;
gara Waaqa jiruu tiyyaa daadimadha.
- ⁹ Ani Waaqa rassaa kiyyaan, «Ati maaf na deete?
Diinoti kiyya waan na cunqursaneef,
ani maaf bowaa ideema?» jedha.
- ¹⁰ Diinoti kiyya yennaa mara, «Waaqi keeti meet?» jedhiisaan na arrassaa
lafee na cassan.
- ¹¹ Ee lubbuu tiyya maaf gaddita?
Na keessatti maaf jeeqanta?
Ani deebi'ee Waaqa fayyisaa kiyya waan leellifadhuuf,
Waaqa keetitti addii godhadhu.

43

Daadimata Nama Booji'amee

(Faaruu 42 irraa itti fufe)

- ¹ Ee Waaqa, naaf muri;
worra si'itti hin dhugeeffanne duratti naaf falmi;

- worra dharaameyyi'ii fi hamaaleyyii jalaa na baasi.
- ² Ati Waaqa ani itti baqadhu;
ati maaf na lakkitte ree?
Ani diinota kiyyaan cunqurfamee
maaf bowaa ideema ree?
- ³ Ifa keetii fi dhugaa teeti ergi;
isaan na sooressaa gara kooba teeti woyyitti'ii
gara Galma ati keessa leetuu na fidanuu ti.
- ⁴ Achiin duuba ani gara addee ciinca'aa ta Waaqaa
gara Waaqa itti gammaduu hin dhaqa;
ee Waaqa, Waaqa kiyya,
ani kiraara kiyya guddichaan si leellisa.
- ⁵ Ee lubbuu tiyya maaf gaddita?
Na keessatti maaf jeeqanta?
Ani deebi'ee Waaqa fayyisaa kiyya waan leellifadhuuf,
Waaqa keetitti addii godhadhu.

44

Daadimata Diinota Jalaa Bayiisaaf Dhikaate

Wolaloo Ilmaan Qoraahii, sooressa faarfattootaatiif.

- ¹ Ee Waaqa,
nuuti gurra keennaan dhageenneerra;
abbootiin teenna ta durii bara ifii keessatti
waan ati hujje nutti himaneeran.
- ² Ati harka keetiin gosa biyya adda addaa
lafa keessaa ariitee baattee,
abbootii teenna ta durii
lafa isaanii keessatti qubachiitte.
Gosa biyya adda addaa dhibii balleessitee,
abbootii teenna ta durii horsiitte.
- ³ Isaan shallaagaa ifitiin lafa san hin qabanne;
isaan hunna ifitiin hin injifanne;
ati waan isaan jaalatteef,
harki keeti middichi, irreen teetii fi
ifi fuula keetii tana isaaniif kenne.
- ⁴ Ee Waaqa, ati mooticha kiyya;
kolbaa sanyii Yaaqoobiitiif injifachaa ka kennitu si'i.
- ⁵ Hunna teetiin diinota keenna hin injifanna;
maqaa keetiin worra nu irratti ka'u irra sirbina.
- ⁶ Ani guubee tiyyatti hin addadhu;
shallaagaan kiyyalle injifachaa naaf hin kennu.
- ⁷ Ati ammoo diinota keenna irratti
injifachaa nuuf kennitee,
worra nu jibbu qaanessite.
- ⁸ Nuuti guyyaa mara si Waaqaan ifi jajanna;
maqaa keetille haga bara baraa hin leellifanna.
- ⁹ Amma ammoo ati nu gattee nu salphitteerta;
loltota teenna waliin duulaaf hin baatu.
- ¹⁰ Diinota keenna duraa
akka baqannu nu gooteerta;
nyaaphoti keenna nu saamaneeran.

- 11 Ati akka hoolota qalantuu
 dabarsitee nu kennitee,
 gosa biyya adda addaa oddu'utti
 nu bittinneessiteerta.
 12 Ati kolbaa teeti gatii diqqo'otti gurgurte;
 gurgurama isaanii irraa
 bu'aa womaa hin dhagganne.
 13 Ati cooraa gosa ollaa keennaa,
 murgo'oo fi kolla worra adaala keenna jiruu nu goote.
 14 Ati gosa biyya adda addaa oddu'utti
 mammaassa nu goote;
 isaan tuffi'iin mataa nutti raasan.
 15 Guyyaa mara salphinni kiyya naan dura jira;
 fuulli kiyya qaanii uffateera.
 16 Dubbii worra natti murguutii fi cooruutiif,
 sababa diinota worra haluu na bayuu tun teete.

 17 Nuuti adoo si hin dedhin,
 gondooroo teetille adoo hin diigin,
 wonni kun marti nu dhaqqadde.
 18 Gadhaan keenna gara duubaa hin deebine;
 miilli keenna daandii teeti irraa hin fallaanne.
 19 Ati ammoo addee jeedalti leetutti nu caccassiteerta;
 dukkana dimmalle nutti uffitteerta.

 20 Nuuti maqaa Waaqa keennaa adoo deene jiraannee,
 harka keenna gara Waaqa ormaa
 adoo badhifannee jiraannee,
 21 Waaqi dhossaa waan maraa beeku,
 silaa tana qorqoree bira hin gewuu ree?
 22 Teetuu malee, nuuti guyyaa mara
 si'iif jennee ijjeefanna;
 akka hoolee qalantuu laakkowanneerra.

 23 Goottaa kiyya, dammaqi! Maaf ratta?
 Ka'i! Haga bara baraa nu hin gatin.
 24 Ati maaf fuula keeti dhoffatta?
 Rakkoo teennaa fi cunqurfama keenna maaf deeta?
 25 Lubbuun teenna bukuu keessa gad lixxeerti;
 nafi keennalle lafatti maxxaneera.
 26 Ka'i! Nu qarqaar.
 Jaalala keeti ka bara baraatiif jedhii nu wodi.

45

Faaruu Fuudha Mootichaa

Wolaloo ilmaan Qoraahii, soorressa faarfattootaatiif, faaruu ta akka yoyy-oma faaruu, «Daraaraa» jedhantee beekkantutti faarfatante.

- 1 Dubbiin dansaan gadhaa kiyya guuttee dhangalaati;
 wolaloo tiyya mootichaaf hin dhageessisa;
 arrabi kiyya akka feenii nama woy barreessiisaan beekkamee ti.

 2 Ati ilmaan namaa mara caalaa miidhaga'a;
 dubbiin teeti arnya qaddi;

- tanaaf Waaqi haga bara baraa si eebbiseera.
- ³ Ee mooticha janna,
ka ulfinnaa fi arnya qaddu,
shallaagaa keeti hidhadhu.
- ⁴ Marroo dhuga'aa, marroo gadhi-laafumma'aa fi
balchumma'aatiif,
arnya keetiin injifatiisaaf ka'i;
harki keeti middichi
injifachaa gugurdoo dhaggisiisuu ti.
- ⁵ Daayi keetii ka qarame,
gadhaa diina keetii hin woraana;
gosi biyya adda addaa miila keeti jalatti hin jigan.
- ⁶ Ee Waaqa barcumaan mootumma'aa keeti,
ka bara baraa ti;
uleen bokku'uu teetille ulee bokku'uu ta haqaa ti.
- ⁷ Ati balchummaa jaalattee,
hammeenna jibbite;
tanaaf Waaqi, Waaqi keeti zayitii gammadaa si muudee,
hari'aa teeti akka caaltu si godhe.
- ⁸ Woyaan fiqiree qumbii, hargiisaa fi
dakkara irraa hujanteen fiqqitti.
Mana mootumma'aa ka ilka arbaatiin seefame keessaa
qoonqoon kiraara guddichaatii fi
maseenqo'oo si gammachiitti.
- ⁹ Dubartoota mana mootumma'aa keessa jiranu odduu,
ijoolleen durraa ta moototaa jiran;
giittittiin worqii biyya Ofirii naqattelle
gara harka keeti middaatiin dhaabbatti.
- ¹⁰ Ee intala dhage'i!
Waan ani jedhu caqasi;
kolbaa teetii fi mana abbaa keetii dedhi.
- ¹¹ Mootichi miidhaginna keetiif si halcha;
inni gootaa keeti waan te'eef, isa ulfeessi.
- ¹² Kolbaan Xiirrosii kennansa sii fidan;
worri dureeyyiin si'itti dhikaatiisaaf barbaadan.
- ¹³ Intalti mootichi fuudhaaru
woyaa worqi'iin kuulante uffattee,
kolloo ifii keessa jirti.
- ¹⁴ Woyaa kuula hedduu qaddu san uffattee,
gara mootichaa geeffanti;
durri bookarsitooti isi'ii
isii gula gara mootichaa hin dhaqan.
- ¹⁵ Isaan ililleetti'ii fi gammadaan
isii gula mana mootichaa hin seenan.
- ¹⁶ Ilmaan teeti addee abbootii teetii hin bu'an;
ati lafa duudii akka bulchanu hin goota.
- ¹⁷ Ani dhaloota mara keessatti
gurra keeti hin mudhisa;
tanaaf gosi biyya adda addaa
bara baraa haga bara baraa si leellitti.

46

Waaqi Nu Woliin Jira

Faaruu ilmaan Qoraahii, sooressa faarfattootaatiif, ta qoonqoo durraatiin faarfatane.

- ¹ Waaqi addee itti baqannu;
inni hunna teenna;
yennaa rakko'oo inni guddoo nu qarqaara.
- ² Tanaaf latti yoo tachoote,
gaarri gara qilee abbaaya'aa yoo bu'e,
³ bisaan yoo shookkisee hoomachowe,
raafamiisa isaatiin
gaaroti yoo hollatanelle nuuti hin sodaannu.
- ⁴ Lagi maddi isaa qachaa Waaqaa,
addee woyyittii Waaqi Ol Aanaan le'u
gammachiisu tokko jira.
- ⁵ Waaqi qachaa san keessa waan jiruuf,
qachaan sun hin tacho'u;
Waaqi barii ganama qachaa san hin qarqaara.
- ⁶ Gosi biyya adda addaa hogitte,
mootummootille jidde;
Waaqi qoonqoo ifii dhageessise,
lattille baxxe.
- ⁷ Mootiin Waan Maraa
Waaqi Waan Mara Dade nu woliin jira;
Waaqi Yaaqoobii addee nuuti itti baqannu.
- ⁸ Kowa'aatii, hujii Mootii Waan Maraa,
badii inni lafa irratti fide ilaala'a.
- ⁹ Inni lola biyya lafaa irraa hin dhaabbachiisa;
guube'ee fi eboo hin caccassa;
wonteelle ibiddaan hin guba.
- ¹⁰ Inni, «Cadhisa'aa, ani Waaqa akka te'e beeka'a;
ani gosa biyya adda addaa oddu'utti,
biyya lafaa irralle'etti hin saadama» jedha.
- ¹¹ Mootiin Waan Maraa
Waaqi Waan Mara Dade nu woliin jira;
Waaqi Yaaqoobii addee nuuti itti baqannu.

47

Waaqi Biyya Lafaa Irratti Mooti'i

Faaruu ilmaan Qoraahii, sooressa faarfattootaatiif.

- ¹ Gosi biyya adda addaa marti,
harka keessan dhowa'a;
qoonqoo ol qabadha'aatii,
Waaqaaf ilillisa'a.
- ² Mootiin Waan Maraa Ol Aanaan ka sodaatame;
inni lafa duudii irratti mootii gudda'a.
- ³ Inni kolbaa hedduu nu'uun jala godhe;
gosa biyya adda addaa miila keenna jala galche.
- ⁴ Sanyii Yaaqoobii ta inni jaalatuuf koora ta teete,

- lafa nuuti dhaallu inni nu'uuf file;
⁵ Mootiin Waan Maraa Waaqi ililleetti'ii fi
 qoonqoo tultulla'aatiin ol bayeera.
⁶ Waaqa faaru'uun leellisa'a; leellisa'a;
 Mootii keenna faaru'uun leellisa'a; leellisa'a.
⁷ Waaqi mootii lafa duudi'ii waan te'eef,
 faaru'uun isa leellisa'a.
⁸ Waaqi gosa biyya adda addaa irratti mooti'i;
 Waaqi barcuma mootumma'aa
 ka ifii woyyicha irra tee'eera.
⁹ Qondaaltoti gosa biyya adda addaa
 kolbaa Waaqa Abrahaamii woliin
 wolitti qabamaneeran;
 loltooti lafaa marti ka Waaqaa waan te'aneef,
 inni guddoo saadameera.

48

Qachaa Guddicha Waaqaa, Xiyoona

Faaruu. Faaruu ilmaan Qoraahii.

- ¹ Mootiin Waan Maraa gudda'a;
 qachaa Waaqa keennaa keessatti
 gaara woyyicha irratti
 guddoo leellifamuu qaba.
² Gaarri Xiyoona ka gara kaabaatitti dhaggamu,
 ka dheerinnaan miidhagu,
 qachaa mooticha gudda'aa,
 ka lafa duudii gammachiisu.
³ Waaqi mana mootumma'aa jabaa
 qachaa sanii keessa jira;
 inni kushee qachaa sanii akka te'e ifi mudhiseera.
⁴ Qachaa san loliisaaf,
 moototi wolitti qabamane.
⁵ Isaan akkuma dhagganeen maadeffatane;
 sodaatanee baqa kottee addeessane.
⁶ Achitti rommiis isaanitti dhufee,
 akka dubartii ciniinsifattuu muddamane.
⁷ Akka hoboloota gugurdoo Tarshiishii
 ta qilleensa gara aduun baatuutiin bututanuu te'ane.
⁸ Waaqi qachaa ifii
 haga bara baraa jabeessee akka dhaabu,
 akkuma dhageenne,
 akkasuma qachaa Mootii Waan Maraa
 Waaqa Waan Mara Dadee,
 ka Waaqa keennaa irratti dhaggineerra.
⁹ Ee Waaqa, Galma keeti keessatti,
 jaalala keeti ka bara baraa yaadanna.
¹⁰ Ee Waaqa, akkuma maqaan keeti lafa duudii geye,
 leellisi keetille lafa duudii geyee,
 harki keeti middichi balchumma'aan guutameera.

- ¹¹ Muraan teeti dhugaa waan teeteef,
 worri gaara Xiyyoonii irra le'u gammaduu ti;
 worri qachoota Yihuda'aa keessa le'u firinxiixuu ti.
- ¹² Qachaa Xiyyoonii naannowaa ideemaa,
 adaala isaa mara'a.
 Xelleephoo isaa laakkowa'a.
- ¹³ Dalleya dhaka'aa ka isaa hubadha'a;
 kushee isaalle ilaala'a.
 Akka dhaloota dhufuun,
¹⁴ «Waaqi kun, haga bara baraa Waaqa keenna;
 inni haga du'aatitti nu soorressa» jettanu.

49

Gowwummaa Durumma'atti Addatiisaa

Faaruu ilmaan Qoraahii, soorressa faarfattootaatiif.

- ¹ Kolbaan marti tana dhage'a'a!
 Worri biyya lafaa tana keessa leetanu marti caqasa'a!
- ² Gudda'aa fi diqqa'aan,
 dureessaa fi hiyyeessi caqasa'a.
- ³ Afaan kiyya jechoota qarumma'aa dubbata;
 yaad gadhaa kiyyaa hubantii kenna.
- ⁴ Ani gurra kiyya gara fakkeenaa deebifadha;
 hiibboo tiyya
 kiraaraan hiika.
- ⁵ Guyyaa wonni hantuun natti dhuttuu fi
 hamaaleyyiin sobaaleyyiin na marsanu
 ani maaf sodaadha?
- ⁶ Worra qabeenna ifiititti addatuu fi
 durummaa ifii guddo'oon kooru,
 ani maaf sodaadha?
- ⁷ Dhugumaan, nami nama wodu,
 yookiin gatii wodo'oo san
 Waaqaaf kennuu dande'u hin jiru.
- ⁸ Gatiin lubbuu namaa akka malee guddo'o;
 wonni silaa kaffaluu dande'anuuyyuu
 ijjumaa hin geettu.
- ⁹ Akka du'ee hin shanne,
 haga bara baraa akka le'u godhiisaaf
 ijjumaa hin geettu.
- ¹⁰ Qarooleen akka du'anuu nami marti hin dhagga;
 gowwoole'ee fi daalleelle hin badan;
 qabeenna ifille worra dhibi'iif lakkisan.
- ¹¹ Lafa maqaa isaaniitiin waammantu yoo qabaatanelle,
 irreensi isaanii haga bara baraa mana isaanii hin te'a;
 dhalootaa haga dhalootaatitti addee leetoo isaanii hin te'a.
- ¹² Durummaan du'a irraa nama hin hamburtu;
 nami akkuma hori'ii hin du'a.
- ¹³ Hireen worra gowwumma'aan ifitti addatuutii fi
 hordofattoota isaanii,
 ka waan isaan jedhanu fudhatuu tana.

- 14 Isaan kun akkuma hoole'ee hin du'an;
duuti isaan hin tissiti.
Worri qajeelaan ganamaan
irreensa isaanii irra hin ideema;
isaan mana ifii dansaa irraa fagaatanee,
addee worri du'e jiru keessatti hin shaman.
15 Waaqi gara ifii waan na fudhatuuf,
dhugumaan inni lubbuu tiyya
hunna addee worri du'e jiruu jalaa hin woda.
- 16 Nami yennaa dureessa te'e,
qabeenni mana isaa yennaa dabalame,
hin sodaatin.
- 17 Inni yennaa du'u womaa hin fudhatu;
karri isaa isa waliin hin awwaalamu.
- 18 Nami bara jiruu ifii mara gammadee,
wonni marti isaaf teetee leellifamulle,
19 du'ee gara abbootii ifii ta durii,
ta deebitee ifa hin dhagginee hin deema.
- 20 Nami karra qabaatee hubantii dhabe,
akkuma hori'ii hin du'a.

50

Waaqonfannaa Dhuga'aa

Faaruu Asaafii.

- 1 Mootiin Waan Maraa,
Waaqi waaqotaa hin dubbata;
baya adu'uu irraa haga seensa adu'utitti,
nama lafa irraa mara hin waama.
- 2 Gaara Xiyoonii,
ka miidhaginna guutuu qabu irraa,
Waaqi hin ifa.
- 3 Waaqi keenna hin dhufa; inni hin cadhisu;
ibiddi gubu isa dura jira;
hobonbolattiin jadduun cinaa isaa marsiteerti.
- 4 Inni kolbaa ifiititti muriisaaf,
ol-gubbaa gubbaa jirtuu fi lafa waamee,
- 5 «Worra ciinca'aan na waliin gondoorate,
ka naaf addatamane wolitti naaf qaba'a» hin jedha.
- 6 Waaqi abbaa mura'aa waan te'eef,
ol-gubbaan balchummaa isaa lalladdi.
- 7 Ammalle Waaqi, «Kolbaa tiyya, dhage'a'a;
Israa'el, ani si'i irratti dhugaa hin baya;
ani Waaqi keeti, Waaqa.
- 8 Ani, «Ciincaa naa dhikeessitu dhabe» jedhee si hin komadhu;
kennansi keeti ka gubamu yennaa mara fuula kiyya dura jira.
- 9 Ani moonaa teeti keessaa korommii,
gooree teeti keessaa korbeeyyii re'e'ee
fudhatiisaaf hin barbaadu.
- 10 Bineensoti baddaa keessaa marti,
horiin kooba kuma hedduu irraa marti kiyya.
- 11 Ani sinbirroota gaara irraa mara beeka;

wonni diida keessa munyuuqu marti tiyya.

- ¹² «Biyyi lafaatii fi wonni isii keessaa marti
tiyya waan teeteef,
adoo beelowelle'ee ani sitti hin himu.
¹³ Ani foon korommi'ii nyaadhaa?
Yookiin dhiiga re'e'ee unaa?» jedha.
¹⁴ Ciincaa galataa Waaqaaf dhikeessi;
waadaa keeti Ol Aana'aaf muummessi.
¹⁵ Waaqi, «Guyyaa rakkinnaa na waami;
ani si baasa;
atille na hin ulfeessita» jedha.

¹⁶ Waaqi ammoo nama hama'aan,
«Waan ajaja kiyyaatuu maaf dubbatta?
Gondooroo tiyya maaf maqaa dhootta?
¹⁷ Ati adabamiisa jibbita;
jechoota kiyya ifiin duubatti gatta.
¹⁸ Hattuu yennaa dhaggitu, jaala teetaaf;
gaarayyeeffattoota wolille'een qooda qadda.

¹⁹ «Afaan keeti waan hantuu dubbata;
arrabi keetille soba odeessa.
²⁰ Teetee obboleessa keeti hamatta;
ilma haadha teetii maqaa balleessita.
²¹ Ati waan kana goote; ani hin cadhisaa?
Ani akkuma keeti te'e na seetaa?
Amma ammoo waan ati goote sitti mudhisee,
si xixa.

²² «Isin worri ana Waaqa deetanu,
tana hubadha'a;
tun te'uu dhabaannaan ani isin kukkuta;
ka isin baasu hin jiru.
²³ Nami ciincaa galataa naaf dhikeessu na ulfeessa;
nama karaa qajeelaa deemuuf,
fayyisiisa kiyya itti mudhisa» jedha.

51

Daadimata Araara Dhaggatiisaaf Dhikaate

Faaruu Daawiti soorressa faarfattootaatiif. Daawiti Baat-Sheebaa gaarayyeffateen duuba yennaa raagichi Naataan gara isaa dhufe ta inni faarfate.

- ¹ Ee Waaqa,
sababa jaalala keeti ka bara baraatiif,
na marari.
Sababa gadhi-laafummaa teeti guddo'ootiif,
yakkaa tiyya haxowii balleessi.
² Yakkaa tiyya mara dhiqii balleessi;
cubbuu tiyya irraa na qulqulleessi.

³ Ani yakkaa tiyya waan beekuuf,
yennaa mara cubbuun tiyya
fuula kiyya dura jirti.

- ⁴ Ani si irratti ka'ee, si qofa yakkee,
waan hantuu si duratti godhe.
Tanaaf dubbiin ati na irratti dubbatte dhuga'a;
muraan ati natti murtelle haqa.
- ⁵ Dhugumaan ani cubbu'uun dhaladhe;
yennaa haati tiyya na ulfoottuu ani cubbicha.
- ⁶ Ati keessa namaatitti dhugaa hin halchita;
tanaaf, gadhaa kiyya ka dhossa'aa keessatti
qarummaa na barsiisi.
- ⁷ Baala hisoophiitiin fiffixiitii,
cubbuu irraa na qulqulleessi;
anille hin qulqullowa;
na dhiqi; anille dhakaa roobaa caalaa hin addaadha.
- ⁸ Ililleetti'ii fi gammada na dhageessisi;
ati na caccassitee butuchitulle
ani deebi'ee hin gammada.
- ⁹ Fuula keeti cubbuu tiyya irraa deebifadhu;
yakkaa tiyya mara haxowii balleessi.
- ¹⁰ Ee Waaqa, gadhaa qulluu naa dadi;
ayyaana haareya hin jijjiiranne naa kenni.
- ¹¹ Fuula keeti duraa na hin fageessin;
Ayyaana keeti Woyyichalle na irraa hin fudhatin.
- ¹² Gammada fayyisiisa keeti irraa dhufu san,
adde'etti naaf deebisi;
akka si'iif ajajamu na qarqaar.
- ¹³ Achiin duuba ani
worra seera keeti yakku hin barsiisa;
cubbaaleyyiille gara keeti hin deebi'an.
- ¹⁴ Ee Waaqa, Waaqa fayyinna kiyyaa,
yakkaa dhiiga dhangalaasee jalaa na baasi*;
arrabi kiyya marroo balchummaa teetii
gammadaan ilillisa.
- ¹⁵ Ee Gootta'a, afaan kiyya bani;
anille arraba kiyyaan si hin leellifadha.
- ¹⁶ Ati adoo ciincaa jaalattu teetee,
ani silaa si'iif hin dhikeessaayyu.
Ati kennansa gubamutti hin gammaddu.
- ¹⁷ Ciincaan Waaqaaf dhikaattu yaada gad jedhe;
ee Waaqa, ati yaada gad jedhee,
cubbuu irraa deebi'u hin tuffattu.
- ¹⁸ Fedhii teetiin Xiyooniif waan dansaa godhi;
dalleya dhaka'aa ka Yersaalemii deebisii ijaari.
- ¹⁹ Achiin duuba ati ciincaa sirrii te'ee fi
kennansa gubamutti hin gammadda;
addee ciincaan itti ciinceffamu teeti irratti
dardarooti hin dhikeeffaman.

* **51:14** *Yakkaa dhiiga dhangalaasee jalaa na baasi:* Afaan Ibrootaatiin dhiigi kiyya akka hin dhangalaane na baasi jedhamuu hin dande'ama.

52

Muraa Waaqaatii Fi Badhaadha Waaqaa

Sooressa faarfattootaatiif, wolaloo Daawitii ta yennaa nami biyya Edoomii Do'eeg gara Saa'olii dhufee, «Daawiti gara mana Ahiimelekii dhufeera» jedhee isatti hime faarfate.

- ¹ Nama hunnaamessa!
Hantuu hujiisa keetiin maaf koorta?
Jaalalli bara baraa ka Waaqaa
haga bara baraa ti.
- ² Ati ka soba baratte,
mala badi'ii dhootta;
arrabi keeti akka shiggire'ee ti.
- ³ Ati waan dansaa caalaa waan hantuu,
dhugaa dubbii caalaa dhara jaalatta.
- ⁴ Ati nama sobaalessa!
Dubbii nama miitu jaalatta.
- ⁵ Waaqi ammoo badii bara baraa sitti fidee,
mana keeti keessaa butee si baasee,
lafa worra jiraata'aa keessalle'ee si hin buqqisa.
- ⁶ Worri balchooleen
waan kana dhagganee, hin sodaatan;
achiin duuba sitti kollaa,
- ⁷ «Nama Waaqatti hin irkanne,
ammoo bacinna karra ifiititti ka addatu,
ka worra dhibii balleessiisatti jabaatu,
kunoo ilaala'a!» hin jedhan.
- ⁸ Ani ammoo mana Waaqaa keessatti,
akka muka ejersaa oshoba;
Jaalala Waaqaa ka bara baraatitti
bara baraan itti addadha.
- ⁹ Waaqa, marroo waan ati hujjeetiif,
ani bara baraan si leellifadha.
Worra si dhugeeffatu duratti,
maqaa keeti dansaa san addi'iin eegadha.

53

Hammeenna Namaa

Sooressa faarfattootaatiif, wolaloo Daawitii, ta akka yoyyoma, «Mahalaat» jedhamee beekkamutti faarfatante.

- ¹ Gowwooleen gadhaa ifii keessatti,
«Waaqi hin jiru» jedhan;
isaan worra bada'a;
waan gadhee hujan;
isaan keessaa
ka waan dansaa huju tokkolle hin jiru.
- ² Worra qaroolee Waaqa barbaadu,
yoo jiraatane dhaggiisaaf,
Waaqi ol-gubbaa irraa,
gara ilmaan namaa gad ilaala.
- ³ Isaan ammoo martinuu dudda itti galaneeran;
martinuu wolumatti worra badaa te'aneeran;

isaan keessaa ka waan dansaa huju hin jiru;
tokkolle hin jiru.

⁴ Worri hamaaleyyiin womaa hin hubatuu?

Akkuma nami sagalee nyaatu
worri kolbaa tiyya nyaatu,
gara Waaqaa hin daadimatu.

⁵ Isaan addee wonni sodaatanu hin jirretti,
sodaatanee bararaan.

Waaqi lafee diina kolbaa ifii hin bittinneessa;
Waaqi waan isaan jibbeef,
isin kolbaan Waaqaa isaan hin qaanessitan.

⁶ Xiyoona keessaa

Israa'eliif fayyinni adoo dhufee jiraatee!
Yennaa Waaqi boojuu kolbaa ifii deebisu,
sanyiin Yaaqoobii burraaxxuu ti;
kolbaan Israa'elii gammadduu ti.

54

Harka Diinaa Jalaa Bayiisaaf Daadimata Dhikaate

Wolaloo Daawitii, soorressa faarfattootaatiif, ta yennaa worri Ziifii gara Saa'olii dhagee, «Daawiti nu biratti dhokateera» jedhee isatti hime ta meya ribu'uutiin faarfatante.

¹ Ee Waaqa, maqaa keetiin na baasi;
hunna teetiin dhugaa naaf muri.

² Ee Waaqa, daadimata kiyya dhage'i;
dubbii afaan kiyyaa caqasi.

³ Namooti alagaan natti ka'an;
worri nama sodaachisu,
na ijjeesiisaaf barbaadan;
isaan marroo Waaqaa hin yaadanu.

⁴ Dhugumaan Waaqi qarqaarsa kiyya;
Gootaan irkuu jiruu tiyyaa ti.

⁵ Wonni hantuun
worra ila diinumma'aatiin na ilaalutti deebituu ti;
ati addatamummaa teetiin isaan fixi.

⁶ Ani fedhuma tiyyaan ciincaa sii dhikeessa;
Ee Mootii Waan Maraa,
maqaa keeti dansaa waan te'eef,
ani isa hin leellisa.

⁷ Ati rakkinna mara keessaa waan na baatteef,
injifatamiisa diinota kiyyaa dhaggeera.

55

Jaalaan Diinatti Dabarfamanee Kennamuu

Soorressa faarfattootaatiif, wolaloo Daawitii, ta meya ribu'uutiin faarfatante.

¹ Ee Waaqa, daadimata kiyya dhage'i;
gaaffii tiyya cadhittee hin ilaalin.

² Ati na caqasii deebii naa kenni;

- ani rakkinna kiyyaan nageya dhabeera.
- ³ Diinoti kiyya natti iyyan;
worri hamaaleyyiin na cunqursan.
Isaan farra natti fidan;
aari'iin na lolan.
- ⁴ Gadhaan kiyya na sodaateera;
bararaqi du'aa natti bu'eera.
- ⁵ Soda'aa fi hollatiisi na qabataneeran;
guddoo sheephiseera.
- ⁶ Ani adoo akka saphaliisaa koola qabaadhe,
silaa koolaan ka'ee
addee takkatti foorfadhaayyu.
- ⁷ Ani silaa fagoo ideemee,
goomolee keessa turaayyu.
- ⁸ Hobonbolatti'ii fi bubbee bokkeyaa jalaa,
silaa ariifadhee
gara addee itti baqadhuu hin deemaayyu.
- ⁹ Ee Gootta'a, ani qachaa keessatti
hunnaan wolitti ka'iisaa fi
wol loliisa waan dhaggeef,
arrabi isaanii akka wol irraa miliqu godhi;
mala isaaniille balleessi.
- ¹⁰ Halkanii fi guyyaa,
isaan dalleya qachaa sanii gubbaa maran;
yakka'aa fi rakkinni qachaa san keessa jiran.
- ¹¹ Qachaa san keessa addee mara badi'itti jira;
dikkoo qachaa sanii keessaa
cunqursa'aa fi sobatti guuteera.
- ¹² Ka na arrassu diina kiyyaa moti;
adoo diina kiyya te'ee, silaa hin ossadhaayyu.
Ka natti kooru, nyaapha kiyyaa moti;
adoo nyaapha kiyya te'ee,
silaa duraa dhokadhaayyu.
- ¹³ Ka tana na godhe ammoo,
nama hari'aa tiyyaa,
si lansa kiyya, jaala kiyya ka wolitti dhikaannu,
¹⁴ ka haasowa mi'aawaa woliin haasowaa,
kolbaa woliin,
gara mana Waaqaa ideenne.
- ¹⁵ Wonni hantuun mana isaaniitii fi
gadhaa isaanii keessa waan jirtuuf,
diinota kiyyatti dedhuma duuti itti dhuttuu ti;
adoo jiranuu
gara addee worri du'e jiruu gad bu'anuu ti.
- ¹⁶ Ani ammoo Waaqa waammadha;
Mootiin Waan Maraalle na baasa.
- ¹⁷ Galgalaa fi ganama, guyyaa wodhakka'attille,
rakko'oo fi gadda kiyya itti himadha;
innille qoonqoo tiyya hin dhage'a.
- ¹⁸ Worri na irratti ka'u bacaa waan te'eef,

- inni worra na lolu jalaa,
nageyaan na galcha.
- ¹⁹ Isaan waan hin jijjiiranneef,
Waaqalle waan hin sodaanneef,
Waaqi, ka durii jalqabee
barcumaa mootummaa ifii irra jiru,
daadimata kiyya dhage'ee,
isaan hin salphisa.
- ²⁰ Lansii kiyya sun jaalota ifii lole;
waadaa galelle diige.
- ²¹ Haasonni isaa dhadha'a;
gadhaa ifititti ammoo lola yaada.
Jechooti isaa zayitii caalaa lallaafa;
ammoo akka shallaagaa buqqifamee ti.
- ²² Ba'aa teeti Mootii Waan Maraa irratti buufadhu;
inni si utuba;
inni worra balchoolee
ijjumaa akka raafamanu hin godhu.
- ²³ Ee Waaqa, ati ammoo
worra hamaa boolla qile'etti gad gatta;
worri dhiiga namaa dhangalaasuu fi nama sobu,
bara le'ii ifii hin wodhakkeeffatanu.
Ani ammoo sitti addadha.

56

Daadimata Waaqatti Addatiisaa

- Sooressa faarfattootaatiif, faaruu Daawitii, ta akka yoyyoma faaruu,
«Saphaliisa qilxaa fagoo jiru irraa» jedhantee beekkantutti, yennaa worri Filisx-
eemotaa qachaa Gaatii keessatti isa qabane faarfatante.*
- ¹ Kolbaan waan na ariituuf,
Ee Waaqa, naaf marari;
diinoti kiyya guyyaa mara na miidhan.
- ² Diinoti kiyya guyyaa guutuu na ari'an;
worri kooru ka na lolu baca'a.
- ³ Ani yennaa sodaadhu,
si'itti addadha.
- ⁴ Marroo jecha isaatiif, isa leellifadha;
ani Waaqatti addadha; hin sodaadhu;
nami foonii maan na godhuu dande'a?
- ⁵ Guyyaa guutuu dubbii tiyya micciiran;
isaan yennaa mara na miidhiisaaf,
mala natti dhowan.
- ⁶ Isaan wolitti qabamanee, riphani;
jiruu tiyya balleessiisaaf,
tarkaaffii tiyya eegan.
- ⁷ Isaan yakkaa hujanee hin miliqin.
Ati aarii teetiin
gosa biyya adda addaa san salphisi.
- ⁸ Ati daaquiisa kiyya laakkotteerta;

- imimmaan tiyya godaa keetitti kuuccheerta;
 wonni kun dhugumaan
 kitaaba keessatti barreeffamaneeranii motii?
⁹ Yennaa ani gara keeti daadimadhu,
 diinoti kiyya gara duubaa hin deebi'an;
 Waaqi cinaa tiyya akka jiru saniin beeka.
¹⁰ Waaqa jecha isaa leellifadhuun,
 Mootii Waan Maraa jecha isaa leellifadhuun,
¹¹ Waaqa itti addadhuun, ani hin sodaadhu;
 nami foonii maan na godhuu dande'a ree?
¹² Ee Waaqa,
 waadaa sii galeeru muummessu'uu male;
 kennansa galataa sii dhikeessa.
¹³ Ati lubbuu tiyya du'a irraa,
 miila kiyyalle jigiisa irraa hamburteerta.
 Tanaaf, ee Waaqa, ani fuula keeti dura
 ifa jiru'uu keessa ideema.

57

Daadimata Qarqaarsa Waaqaa Dhaggatiisaaf Dhikaate

Sooressa faarfattootaatiif, faaruu Daawitii, ta akka yoyyoma faaruu, «Hin balleessin» jedhantee beekkantutti, yennaa inni Saa'ol duraa baqatee goda keessa jiru faarfatante.

- ¹ Lubbuun tiyya waan sitti baqattuuf,
 na marari, ee Waaqa, na marari.
 Haga rakkoon dabartutti
 ani koola keeti jalatti baqadha.
- ² Ani gara Waaqa Ol-Aana'aa,
 gara Waaqa waan naaf barbaachisu
 mara naa muummessuu hin iyya.
- ³ Inni ol-gubbaa irraa ergee na baasa;
 inni worra na irra sirbu hin salphisa.
 Waaqi jaalala ifii ka bara baraatii fi
 addatamummaa ifii hin erga.
- ⁴ Ani worra akka neenqa nama nyaatiisaaf
 ila babaasuu odduu irkadhe.
 Ilkaan isaanii akka ebo'ootii fi daayaa ti;
 arrabi isaanii akka shallaagaa qaramee ti.
- ⁵ Ee Waaqa, ol-gubba'aan gubba'atti saadami;
 ulfinni keeti lafa duudii irratti te'uu ti.
- ⁶ Diinoti kiyya miila kiyyaaf fonxorroo afane;
 lubbuun tiyya gaddaan gad jette.
 Isaan karaa kiyya keessatti boolla qotane;
 ammoo ifumaaf keessa bu'ane.
- ⁷ Ee Waaqa, gadhaan kiyya hin mamu!
 Gadhaan kiyya hin mamu.
 Ani hin faarfadha;

- meya faaru'uu ka adda addaatiin hin faarfadha.
- ⁸ Lubbuu tiyya dammaqi;
ee kiraaraa guddicha,
ee maseenqo'o dammaqa'a;
anille boruu hin dayyaasa.
- ⁹ Ee Gootta'a,
ani gosa biyya adda addaa oddu'utti
si galateeffadha.
Ani gosa biyya adda addaa oddu'utti
faaru'uun si leellisa.
- ¹⁰ Jaalalli keeti ka bara baraa guddaa waan te'eef,
akka ol-gubba'aa ol fagaata;
addatamummaan teeti duumensa dhagqaddi.
- ¹¹ Ee Waaqa, ol-gubba'aan gubba'atti saadami;
ulfinni keeti lafa duudii irratti te'uu ti.

58

Waaqi Akka Nama Hamaa Adabuuf Daadimata Dhikaate

Sooressa faarfattootaatiif, faaruu Daawitii, ta akka yoyyoma faaruu, «Hin balleessin» jedhantee beekkantutti faarfatante.

- ¹ Isin bulchitoota,
isin dhugumaan
waan sirrii te'e hin dubbattanii ree?
Isin kolba'atti haqa hin murtanii ree?
- ² Waawwo'o! Isin gadhaa keessan keessatti
waan haqa hin te'in mala dhoottan;
lafa irratti hunnaan namatti kaatan.
- ³ Worri hamaaleyyiin
gadaamessa haadha ifitii jalqabanee,
karaa irraa goraneeran;
haga dhalatanee jalqabanee,
karaa fedha ifii deemaa dhara dubbatan.
- ⁴ Isaan akka dhudhuufa'aa hadhaa qaban;
isaan akka buutii gurra duuddu'uu,
⁵ ta qoonqoo worra qorsaan muusessuu,
yookiin dubbii worra qarolee xanoo hujuulle hin dhageennee ti.
- ⁶ Ee Waaqa,
ilkaan isaanii afaan isaanii keessatti caccassi;
Ee Mootii Waan Maraa,
worra akka dardaroota neenqaa qadhiffaa qabu,
qadhiffaa isaanii butuchii keessaa harcaasi.
- ⁷ Akka bisaan lola'ee dabaruu badanuu ti;
yennaa isaan guubee qopheeffatanu,
daayi isaanii tutuma te'uu ti.
- ⁸ Isaan akka calanqaa adoo ideemuu baquu te'anuu ti;
isaan akka finna du'ee dhalatee,
ka ijumaa ifa hin dhagginii te'anuu ti.
- ⁹ Isaan akka haasumee jiituu
yookiin godduu adoo hin bobe'in,
adoo okkotee hin o'isiniin dura
qilleensaan haxowantuu ti.

- 10 Worri balchaan
Waaqi haluu isaaniif bayuun yennaa dhagganu,
gammadaan firinxiixan;
miila ifii dhiiga worra hamaaleyyi'iitiin dhiqatan.
- 11 Yennaa san namooti,
«Dhugumaan worri balchaan
gatii hin dhaggatan;
dhugumaan Waaqi biyya lafaatitti muru
hin jira» hin jedhan.

59

Diinota Jalaa Bayiisaaf Daadimata Dhikaate

*Sooressa faarfattootaatiif, faaruu Daawitii, ta akka yoyyoma faaruu,
«Hin balleessin» jedhantee beekkantutti, yennaa Saa'ol Daawitii ijjeesiisaaf
namoota ergee mana isaa eegisiise faarfatante.*

- 1 Ee Waaqa kiyya, diinota jalaa na baasi;
worra na irratti ka'u irraa na eegi.
- 2 Worra hamaaleyyii jalaa na baasi;
worra dhiiga namaa dhangalaasu jalaa
na hamburi.
- 3 Isaan ammaayyuu riphanee na gaadan;
Ee Mootii Waan Maraa,
ani cubbuu yookiin dokonkora adoo hin hujin,
worri hunnaameyyiin na irratti ka'an.
- 4 Ani dokonkora womaa adoo hin hujin,
isaan na loliisaaf qophowaneeran.
Na qarqaariisaaf ka'i;
gara kiyya koyii na ilaali!
- 5 Ee Mootiin Waan Maraa
Waaqa Waan Mara Dande'u,
Waaqa Israa'elii,
gosa biyya adda addaa adabiisaaf ka'i;
worra hamaaleyyii,
diinaaf dabarsee nama kennu hin mararin.
- 6 Isaan akka sare'ee gurura'aa,
galgala galgala qachaa keessa loxxisan.
- 7 Waan afaan isaanii keessaa bayu ilaali;
arrabi isaanii akka shallaaga'aa ti;
isaan, «Nami nu dhage'u hin jiru» jedhaa yaadan.
- 8 Ee Mootii Waan Maraa,
ati ammoo isaanitti hin kollita;
gosa biyya adda addaa maratti hin murgita.
- 9 Ee Waaqa, ati jabeenna kiyya,
gollaa kiyyalle waan teeteef,
ani si eegadha.
- 10 Waaqi jaalala ifii ka bara baraatiin
naan dura ideema;
inni akka ani injifatamiisa diinota kiyyaa dhaggu
hin godha.

- ¹¹ Ee Gootta'a, wontee teenna,
kolbaan injifachaa keeti akka hin deene,
isaan hin ijjeesin;
hunna teetiin isaan bittinneessii,
isaan salphisi.
- ¹² Sababa cubbuu afaan isaaniitiif,
sababa dubbii arraba isaaniitiif,
koora isaaniitiin qabamanuu ti.
Abaarsaa fi dhara waan dubbatanuuf,
¹³ aarii teetiin isaan balleessi;
ijjumaa isaan balleessi.
- Achiin duuba haga qaccee lafaatitti
akka Waaqi kolbaa Yaaqoobii bulchu hin beekkanti.
- ¹⁴ Isaan akka sare'ee gurura'aa,
galgala galgala qachaa keessa loxxisan.
- ¹⁵ Isaan akka saree sagale'eef loxxittuu,
ta yoo quufuu dhadde gururaatuu ti.
- ¹⁶ Ati guyyaa rakkinnaa gollaa kiyya,
addee ani itti baqadhulle waan teeteef,
marroo jabeenna keetiitii fi
marroo jaalala keeti ka bara baraa
ganama mara hin faarfadha.
- ¹⁷ Ee Waaqa, ati gollaa kiyya,
Waaqa na jaalatu,
ee jabeenna kiyya,
faaruu leellisaa sii dhikeessa.

60

Daadimata Qarqaarsa Waaqaa Dhaggatiisaaf Dhikaate

Faaruu Daawitii, sooressa faarfattootaatiif, ta akka yoyyoma faaruu, «Daraaraa» jedhantee beekkantutti faarfatante. Dhugaa bayiisa. Faaruu barsiisiisaa, ta inni yennaa worra Aaramii ka biyya bisaan lama oddu'uutii fi worra Aaram Xoba'aa woliin wol lole, yennaa Yo'aab deebi'ee dhooqa sooddaa keessatti namoota Edoomii kuma kudha lama injifate faarfate.

- ¹ Ee Waaqa, ati nu gatteerta;
nu caccassiteerta;
nutti aarteerta; amma adde'etti nu deebisi.
- ² Ati lafa tachoottee, dhodhoocheerta;
isiin waan raafamiisatti jirtuuf,
dho'a isi'ii san fayyisi.
- ³ Ati kolbaan teeti
akka guddoo rakkattu gooteerta;
daadhii woyni'ii
ta akka nuuti tintimaa ideennu nu gootu
nuu kenniteerta.
- ⁴ Isaan akka daaya jalaa miliqanuuf,
ati worra si sodaatuuf,
baandiraa akka ol kaafatanu
isaaniif kenniteerta.
- ⁵ Kolbaan ati jaalattu akka baatu,
hunna teetiin nu baasi;

daadimata keennaafille deebii kenni.

- ⁶ Waaqi addee woyyittii ifii keessaa,
 «Ani injifadhee,
 lafa «Sheekem» jedhantu hin hira;
 dhooqa Suukootii kolbaa tiyyaaf qooda.
- ⁷ Latti Giil'aadii tiyya;
 latti Minaase'eelle tiyya;
 Efreem gullee tiyya ta sibiilaa ti;
 Yihudaan ulee tiyya ta bokku'uu ti.
- ⁸ Mo'aab gabataa kiyya ka itti dhiqataa ti;
 Edoom kiyya akka te'e mirkaneessiisaaf,
 kophee tiyya irratti hin qolaansa;
 Filisxeemota irratti injifanno'oon ilillisa» jedheera.
- ⁹ Gara qachaa guddicha dalleya
 dhaka'aatiin marfamee eentu na fida ree?
 Akka loluuf gara Edoomii eentu na geessa ree?
- ¹⁰ Ee Waaqa, ati nu gatteerta;
 loltoota teenna woliin bayiisa lakkitteerta.
- ¹¹ Qarqaarsi namaa womaa waan nu'uuf hin baaneef,
 diinota keenna akka loluuf,
 ati nu qarqaar.
- ¹² Qarqaarsa Waaqaatiin hin injifanna;
 inni diinota keenna hin salphisa.

61

Daadimata Diinota Jalaa Bayiisaaf Dhikaate

Sooressa faarfattootaatiif, faaruu Daawitii ta meya ribu'uutiin faarfatante.

- ¹ Ee Waaqa, iyya tiyya dhage'i;
 daadimata kiyya caqasi.
- ² Addii kutadhee,
 qaccee lafaa irraa si waammadha;
- Gara rassaa na caalaa
 ol ka'eeruu san na geessi.
- ³ Ati addee ani itti baqadhu waan teeteef,
 diinota kiyya loliisaaf,
 ati xelleephoo tiyya jaddu'u.
- ⁴ Ani bara jiruu tiyyaa mara
 mana keeti keessa le'uu fedha.
 Gaaddisa bobaa teetii jalatti baqatuu fedha.
- ⁵ Ee Waaqa, waadaa kiyya dhageetteerta;
 qooda worra maqaa keeti sodaatuuf kennite
 naafille kenniteerta.
- ⁶ Bara jiruu mootichaa irratti
 woggaa hedduu ede'i;
 inni dhalootaa haga dhaloota heddu'uu le'uu ti.
- ⁷ Fuula keeti duratti
 haga bara baraa isa mootonsi;
 jaalala keeti ka bara baraatii fi

addatamummaa teetiin isa eegi.

- ⁸ Guyyuma guyya'aan waadaa kiyya eegatiisaan,
yennaa mara faaru'uun maqaa keeti leellisa.

62

Waaqa Qofatti Addatuu

Faaruu Daawitii soorressa faarfattootaa Yedutu'uuf.

- ¹ Fayyinni kiyya isa irraa waan dhufuuf,
lubbuun tiyya Waaqa qofa cadhittee eegatti.
- ² Inni callaan rassaa kiyyaa fi fayyinna kiyya;
inni kushee tiyya; ani ijjumaa hin raafamu.
- ³ Nama akka dalleya dhaka'aa ka duufee,
akka dalleya daaqee te'e tokko,
isin haga yoomii isa lolaa teettan ree?
- ⁴ Isaan nama san addee ulfinnaa irraa
gad isa buusiisaaf barbaadan.
Dhara dubbatiisatti gammadan;
afaan ifitiin hin eebbisan;
gadhaa ifitiin ammoo hin abaaran.
- ⁵ Lubbuun tiyya Waaqa qofa cadhittee eeggatti;
addiin tiyya isa irraa naa dhutti.
- ⁶ Inni callaan rassaa kiyyaa fi fayyinna kiyya;
inni kushee tiyya; ani ijjumaa hin raafamu.
- ⁷ Fayyinnii fi ulfinni kiyya Waaqa irraa dhufe;
inni rassaa jabaa kiyya; addee ani itti baqadhulle'e.
- ⁸ Ee kolba'a, yennaa mara Waaqatti addadha'a;
Waaqi ka itti baqannu waan te'eef,
yaada gadhaa keessanii mara itti himadha'a.
- ⁹ Ilmaan namaa akka qilleensaa ti;
namooti marti womaa moti.
Isaan yoo madaalamane,
qilleensa caalaa sallatan.
- ¹⁰ Hunnaan saamiisatti hin addatina'a;
waan hannaan dhaggameen hin koorina'a;
yoo karri teessan ede'antelle,
addii itti hin godhatina'a.
- ¹¹ Waaqi takkaa dubbateera;
ani waan lama dhage'eera.
Sunille, «Hunni ta Waaqaa ti;
¹² jaalalli bara baraa ka Gootta'aa ti» ta jettu.
Ee Gootta'a ati maraafuu
akka hujii isaatitti gatii isaaf kaffalta.

63

Waaqa Barbaadiisa

Faaruu Daawitii ta inni yennaa goomolee Yihuda'aa keessa jiru Faarfate.

- ¹ Ee Waaqa, ati Waaqa kiyya;
ani si barbaada.
Akka lafa bisaan dhaddee goggoddee,
lubbuun tiyya si dheebotti;
nafi kiyyalle si dharra'a.
- ² Tanaaf, ani Dunkaanii Woyyittii teeti keessatti
si ilaalee,
hunnaa fi ulfinna keeti dhagge.
- ³ Jaalalli keeti ka bara baraa
jiruu waan caaluuf,
arrabi kiyya si leellisa.
- ⁴ Ani haga jiru si leellifadha;
harka kiyya ol qabadhee,
maqaa keeti waammadha.
- ⁵ Akka sagalee dansaa nyaatteetitti,
lubbuun tiyya quutte;
afaan kiyya arraba ililleetti'iitiin si leellisa.
- ⁶ Taqee tiyya irratti si qaabadha;
halkan duudii marroo teeti yaada.
- ⁷ Ati qarqaarsa kiyya waan teeteef,
gaaddisa bobaa teetii jalatti,
gammadaan faarfadha.
- ⁸ Lubbuun tiyya sitti maxxanti;
harki keeti middichi ol na qaba.
- ⁹ Worri jiruu tiyya balleessiisaaf barbaadu,
qilee lafa jalaatitti gad bu'a.
- ¹⁰ Isaan shallaagaa afaan bu'an;
jeedalaaf sagalee te'an.
- ¹¹ Mootichi ammoo
Waaqaan hin gammada;
worri maqaa Waaqaatiin kakatu marti
Waaqa hin leellisa;
afaan worra dharaameyyi'ii hin cufama.

64

Daadimata Diinota Jalaa Bayiisaaf Dhikaate

Faaruu Daawitii, sooressa faarfattootaatiif.

- ¹ Ee Waaqa, rakkinna keessatti
qoonqoo tiyya naaf dhage'i;
sodaachisaa diinaa irraa na eegi.
- ² Mala worra hama'aa duraa,
waan hantuu hujiisaa
worra wolitti qabamu duraa na dhossi.
- ³ Isaan arraba ifii akka shallaaga'aa qaratan;
dubbii hadhoottuu akka daayaa darbatan.
- ⁴ Isaan dhokataneen nama yakkaa hin qannetti,
sodaa malee dedhuma darbatan.
- ⁵ Isaan waan hantuu hujiisaaf woliin mari'atan;
tiyyoo afiisaaf dhossa'aan mala dhowaa,
«Eentu nu dhagga?» jedhaa yaadan.

- ⁶ Yaadi gadhaa namaatii fi qalbiin namaa
gad fagoo waan teeteef,
isaan waan hantuu mala dhowanee,
«Nuuti mala dansaa dhoonneera» jedhan.
- ⁷ Waaqi ammoo daaya ifii gara isaanii hin darbata;
isaan dedhuma hin madowan.
- ⁸ Waaqi dubbuma arraba isaaniitiin
gara badi'ii isaan fida;
worri isaan dhaggu marti
murgo'oon mataa ifii itti hin raasan.
- ⁹ Nami marti hin sodaata;
isaan hujii Waaqaa lallabaa,
waan inni godhelle yaadanee hin hubatan.
- ¹⁰ Worri balchaan
Mootii Waan Maraatiin gammaduu ti;
isatti baqatuu ti;
worri qajeelaan marti
Mootii Waan Maraa leellisuu ti.

65

Leellisaa Fi Galata

Faaruu Daawitii, sooressa faarfattootaatiif.

- ¹ Ee Waaqa, Xiyoona keessatti
si leellisuu,
waadaa si'iif galle muummessuu qanna.
- ² Ee ka daadimata namaa dhageettu,
nami marti gara keeti hin dhufa.
- ³ Cubbuun nu moote;
ati ammoo yakkaa teenna nuu araarante.
- ⁴ Worri ati filattee
badhinna mana keetii keessa akka le'anuu
ka ifitti dhikeeffatte ka eebbifame.
Nuuti waan dansaa mana keetii,
ta Dunkaanii Woyyittii teetiitiin hin quunna.
- ⁵ Ee Waaqa fayyisaa keenna,
hujii maade'ee
ta balchumma'aatiin deebii nuuf kennita.
Worri qaccee lafaa
abbaaya'aan gama fagoo jiru martille
addii sitti godhata.
- ⁶ Ati hunna teeti uffattee,
jabeenna keetiin gaarota dadde.
- ⁷ Ati Shookkessa abbaaya'aatii fi danbalii isi'ii,
caanca gosa biyya adda addaalle cadhi goota.
- ⁸ Bilbaasa ati gooteen,
worri biyya lafaa irra le'u duudiin,
hin sodaata;
addee aduun baatu irraa
haga addee aduun seentuutitti,
ililleettiin akka dhage'antu hin goota.

- ⁹ Ati lafa ilaaltee, rooba kennitaaf;
guddoo laattuu isii goota.
Lagi Waaqaa, bisaaniin guuteera;
akkas gootee waan qopheessiteef,
kolbaan midhaan dhaggatti.
- ¹⁰ Fichaa qotame irratti
bokkeya baca roobisiitta;
quqquuqaa isaalle hin bulleessita;
biyyee tiifu'uun laafficha;
mudheen* lattee akka guddattu goota.
- ¹¹ Arjummaa teetiin bara eebbitta!
Gara ati dhaxxe mara
midhaan baca'atti jiraata.
- ¹² Goomoleen marti bisiltee,
koobotille gammada akka woya'aa uffatan.
- ¹³ Diidi tika hoolotaatiin,
dhooqille midhaaniin guutaman;
isaan ilillisaa faaruu faarfatan.

66

Faaruu Leellisaa Fi Galataa

Faaruu, soorressa faarfattootaatiif.

- ¹ Biyyi lafaa duudiin,
Waaqaaf gammadaa ilillisa'a.
- ² Ulfina maqaa isaatiif faarfadha'a;
leellisa ulfinnaa isaaf kenna'a.
- ³ Waaqaan, «Hujiin teeti attam attam bilbaasa!
Hunni teeti guddoo waan teeteef,
diinoti keeti soda'aan si duratti hollatan.
- ⁴ Worri lafa irra jiru marti sii sagadan;
isaan faaru'uun si leellisan;
maqaa keeti leellisaa faarfatan» jedha'a.
- ⁵ Waan Waaqi godhe kowa'aa ilaala'a;
inni hujii baasaa odduu kolba'aatitti hujjeera.
- ⁶ Inni abbaayaa gargar kutee,
kolbaan isaa miila ifitiin lafa godduu irra
laga Yordaanosii gamatti buute;
nuutille waan inni godheen gammanne.
- ⁷ Inni hunna ifitiin haga bara baraa hin bulcha;
ilti isaa gosa biyya adda addaa hin eeddi.
Worri isa finqilu isa irratti hin ka'in.
- ⁸ Ee, gosi biyya adda addaa
Waaqa keenna leellisa'a;
qoonqoo ol qabadha'aatii isa leellisa'a.
- ⁹ Inni jiru'uun nu eegee,
miila keennalle akka hin mucucaanne godheera.
- ¹⁰ Ee Waaqa, ati haga nu ilaalteerta;
akkuma meetiin ibiddaan dhimbiibantu,
ati nu dhimbiidde.
- ¹¹ Ati tiyyoo keessa nu galchite;

* **65:10** Mudheen: Lafa tokko tokkotti mudhoon

- ba'aa ulfaattuu dudda keenna irra keette.
¹² Ati akka namooti mataa keenna irratti bayanu goote;
 ibiddaa fi bisaan keessa dabarre;
 amma ammoo addee wonni dansaan jirtutti nu baache.
¹³ Ani ciincaa qabadhee gara mana keetii hin seena;
 waan waadaa gale si'iif hin muummessa.
¹⁴ Waadaan sun ka ani yennaa rakkoo keessa jiru
 arrabi kiyya tuqee, afaan kiyya dubbate.
¹⁵ Ciincaa horii cocoomaatii fi
 ciincaa korbeeyyii hoole'ee si'iif hin dhikeessa;
 korommi'ii fi korbeeyyii re'e'ee hin kenna.
¹⁶ Isin worri Waaqa sodaattanu marti,
 kowa'aa dhage'a'a;
 ani waan Waaqi naaf godhe hin hima.
¹⁷ Ani guddisee gara isaa iyye;
 arraba kiyyaan isa saade.
¹⁸ Ani cubbuu gadhaa kiyya keessatti
 adoo dhoffadhee jiraadhee,
 Gootaan silaa na hin caqasuuyyu.
¹⁹ Waaqi ammoo dhugumaan naaf caqaseera;
 qoonqoo daadimata kiyyaalle dhage'eera.
²⁰ Daadimata kiyya waan hin tuffatiniif,
 yookiin jaalala ifii ka bara baraa
 waan na irraa hin fudhatiniif,
 Waaqi leellifamuu ti.

67

Faaruu Leellisaa

Faaruu takka, ta meya ribu'uutiin faarfatante, sooressa faarfattootaatiif.

- ¹ Waaqi nu mararuu ti; nulle eebbisuu ti;
 fuula ifii akka nu irratti ifu godhuu ti.
² Achiin duuba, karaan keeti lafa duudii irratti,
 fayyisiis keeti
 gosa biyya adda addaa mara oddu'utti hin beekkama.
³ Ee Waaqa, kolbaan si leellittuu ti;
 kolbaan marti si leellittuu ti.
⁴ Ati haqaan kolbaa maratti waan murtuuf,
 gosa biyya adda addaa waan sooressituuf,
 gosi biyya adda addaa gammadaan ilillittuu ti.
⁵ Ee Waaqa, kolbaan si leellittuu ti;
 kolbaan marti si leellittuu ti.
⁶ Latti midhaan baatteerti;
 Waaqi, Waaqayyoon keenna nu hin eebbisa.
⁷ Waaqi nu hin eebbisa;
 kolbaan lafa irraa marti isa hin sodaatti.

68

*Leellisaa Fi Galateeffatiisa**Faaruu Daawitii, sooressa faarfattootaatiif.*

- ¹ Waaqi ol ka'uu ti;
diinoti isaa bittinnowanuu ti.
Worri isa jibbulle isa duraa baqatuu ti.
- ² Akkuma qilleensi aara oofu,
atille isaan oofi;
akkuma gagaan ibidda duratti baqu,
worri hamaalle Waaqa duraa baduu ti.
- ³ Worri balchooleen gammadanu ti;
isaan Waaqa duratti ilillisanuu ti;
gammadaan firinxiixanu ti.
- ⁴ Waaqaaf faarfadha'a;
faaru leellisatiin maqaa isaa faarfadha'a;
ka duumensa irra deemu saada'a;
maqaa isaa Mootii Waan Maraa ti;
isa duratti ilillisa'a!
- ⁵ Waaqi addee woyyittii ifii keessa jira;
ijoollee abbaa hin qanneef abba'a;
haadhotii hiyyeessaatiifille abbaa mura'aa ti.
- ⁶ Waaqi worra qofi le'uuf maatii hin kenna;
worra hidhamelle qananumma'atti hin baasa;
finqiltooti ammoo goomolee godduu keessa le'an.
- ⁷ Ee Waaqa, yennaa ati kolbaa teeti sooressite,
gomolee keessa yennaa ideente,
- ⁸ Waaqa gaara Siina'aa duratti,
Waaqa Israa'elii duratti,
lati tachootee
ol-gubbaan bokkeya kennite.
- ⁹ Ee Waaqa, ati bokkeya bacaa roobisiitte;
lafa teeti ta godde haareessite.
- ¹⁰ Kolbaan teeti achitti qubatte.
Eebba keetiin worra hiyyeeyyi'iif
waan isaaniif barbaachisu kennite.
- ¹¹ Gootaan ajaja baase;
dubartooti hedduun oduu san dabarsane:
- ¹² «Moototii fi loltooti isaanii ariiti'iin baqatane;
dubartooti mana jiranu boojuu goodamane;
- ¹³ Worri hoolee tissiisaaf duubatti hafe
fakkii saphaliisaa ta koollii isi'ii meetii,
ta baalli isi'ii worqii bifa magariisaa
itti gonfame yennaa goodamanu
isin maaf gooree hoole'ee keessa rattane?» jedhane.
- ¹⁴ Ka waan mara dande'u
yennaa mootota lafa sanii bittinneesse,
dhakaan bokkeyaa gaara Zaalmon irratti bu'e.
- ¹⁵ Gaarri Baashaanii gaara ol aana'a;
gaarri Baashaanii qaccee hedduu qaba.

- 16 Ee isin gaaroti qaccee hedduu qaddanu,
gaara Waaqi irra le'iisaaf filate,
ka Mootiin Waan Maraa haga bara baraa irra le'u,
maaf ila hinaaffa'aatiin ilaaltan.
- 17 Garreettaa fardo'oon harkifamu
ka Waaqaa kuma hedduu woliin,
Gootaan gaara Siina'aa irraa
gara addee woyyittii ifii dhufa.
- 18 Mootii Waan Maraa Waaqa,
ati yennaa ol baate,
boojuu fudhattee gara addee leetuu dhaxxe;
kolbaa mara irraa,
worra si mormu irralle'ee kennansa fudhatte.
- 19 Gootaan, Waaqi fayyisaan keenna,
ka guyyaa mara ba'aa teenna ba'atu,
leellifamuu ti.
- 20 Waaqi keenna, Waaqa nu fayyisu;
Mootiin Waan Maraa Waaqi ka du'a jalaa nu baasu.
- 21 Waaqi ammoo mataa diinota ifii,
buqqii mataa worra karaa cubbuu ifiititti jabaatuu hin butucha.
- 22 Gootaan, «Ani diinota keeti biyya Baashaaniitii fi
qilee abbaaya'aa keessaa deebisee hin fida;
- 23 Achiin duuba ati dhiiga isaanii keessa ijjatta;
sareeleen teetille qooda ifii hin arraabbatan» jedhe.
- 24 Ee Waaqa, gogeessi worra si woliin jiruu,
ka ati Waaqi mootiin kiyya
gara addee woyyittii teetii seentu mudhate.
- 25 Worri faarfatu fuula duraan,
worri meya faarfanna'aa dhowanu duubaan,
ijoolleen durra ta dibbee dhoottu,
wodhakkaa isaaniitiin jiraniyyu.
- 26 Isaan, «Gumii guddoo keessatti Waaqa leellisa'a;
gumii kolbaa Israa'elii keessatti
Mootii Waan Maraa leellisa'a» jedhan.
- 27 Gosi Beniyaaminii diqqoon isaan sooressiti;
qondaaltoti Yihuda'aa golii ifii woliin,
qondaaltoti Zebulooniitii fi
qondaaltoti Naftaalemii achi jiraniyyu.
- 28 Ee Waaqa, hunna teeti ajaji;
akkuma dur nuuf goote,
ee Waaqa jabeenna keeti mudhisi.
- 29 Sababa Dunkaanii Woyyittii teeti
ta Yerusaalem keessaatiif,
moototi kennansa si'iif fidan.
- 30 Biyya Gibxi'ii,
ta akka bineensa shonbooqqoo keessaa xixi;
mootota biyya adda addaa,
ta akka korommi'iitii fi jabbi'ii xixi.
Akka meeti'iin gabbaranu jilbiiffatanuu ti;

- gosa biyya adda addaa ta lola jaalattu bittinneessi.
- ³¹ Ergantooti biyya Gibxi'ii irraa hin dhufan;
kolbaan Itoophiya'aa*
harka ifii gara Waaqaa hin diriirsiti.
- ³² Ee isin mootummooti biyya lafaa
Waaqaaf faarfadha'a;
faaruu leellisaa Gootta'aaf faarsa'a.
- ³³ Ka ol-gubbaa durii duriitii jalqaddee jirtu,
gubbaa ideemuuf faarfadha'a;
inni qoonqoo ifii jaddu'uun
mandi'uun caqasa'a.
- ³⁴ Waaqa arnyi isaa Israa'el irra jiru,
ka hunni isaa gubbaa keessa jirtu,
hunna isaa lallaba'a.
- ³⁵ Waaqi, addee woyyittii ifii keessaa,
attam attam sodaachisa;
inni kolbaa ifii Israa'eliif
hunnaa fi jabeenna kenna;

Waaqi leellifamuu ti.

69

Daadimata Qarqaarsa Dhaggatiisaa Dhikaate

*Sooressa faarfattootaatiif, faaruu Daawitii ta akka yoyyoma faaruu,
«Daraaraa» jedhantee beekkantutti faarfatante.*

- ¹ Bisaan waan morma na geyeef,
Ee Waaqa na baasi!
- ² Ani qilee caffa'aa keessa lixe;
miilli kiyya waan irra dhaabbatu dhabe;
ani qilee bisaanii keessa lixe;
lolaan na liqinse.
- ³ Ani iyyiisaan dadhabe;
laagadaan na babbaqage;
qarqaarsa Waaqaa eeggatiisaan
ilti tiyya dadhadde.
- ⁴ Worri sababa malee na jibbu,
rifeensa mataa kiyyaa caalaa bacata;
diinoti kiyya worri dharaan na himatu,
ka na balleessiisaaf barbaadu heddu'u.
Ani waan hin hatin
ade'etti deebisuu qabaa ree?
- ⁵ Ee Waaqa, ati gowwummaa tiyya hin beetta;
yakkaan tiyya si duraa dhokattee hin jirtu.
- ⁶ Ee Waaqa waan mara dande'u,
worri si addatu,
sababa kiyyaaf hin fukkifatin.
Ee Waaqa Israa'elii,
worri si barbaadu
sababa kiyyaaf hin qaanowin.
- ⁷ Ani si'iif jedhee arraba ossadhe;

* **68:31** *Itoophiyaa: Afaan Ibrootaatiin Kuushi jedha.*

- ani si'iif jedhee fokkoo uffadhe.
⁸ Ani obboleeyyan tiyyatti orma,
 ilmaan haadha tiyyaatitti alagaa te'e.
- ⁹ Hinaaffaan mana keetiif qabu na gudde;
 arrabi si arrassanu na irra bu'e.
¹⁰ Yennaa ani laamee bowe,
 isaan na arrassane.
¹¹ Woyaa gaddaa yennaa uffadhe,
 nama ittiin mammaakanu isaaniif te'e.
¹² Ani waan worri addee yaa'ii tee'u ittiin mammaaku te'e;
 worri machowulle marroo tiyya sirba.
- ¹³ Ee Mootii Waan Maraa,
 yennaa si biratti fudhatama qaddutti
 ani gara keeti daadimadha;
 ee Waaqa jaalala keeti ka bara baraatiin,
 fayyisiisa keeti ka dhuga'aatiin,
 deebii naaf kenni.
¹⁴ Dhoqqee keessa lixiisa irraa na hamburi;
 diinota kiyya jalaa,
 qilee bisaanii keessaa na baasi.
¹⁵ Lolaan na fudhatee hin deemin;
 yookiin qileen na hin liqinsin;
 yookiin boolli na irratti hin cufamin.
¹⁶ Ee Mootii Waan Maraa,
 jaalalli keeti ka bara baraa dansaa waan te'eef,
 deebii naaf kenni;
 marartii teeti guddo'oon gara kiyya deebi'i.
¹⁷ Fuula keeti ana tajaajilaa keeti duraa hin dhoffatin;
 ani rakkoo guddoo keessa waan jiruuf,
 ariifadhuu deebii naaf kenni.
¹⁸ Natti dhikaadhuu na wodi;
 dhiibbi* diinota kiyyaatiif jedhii na baasi.
- ¹⁹ Arraffamiisa kiyya, qaanowiisa kiyya,
 salphatiisa kiyyalle hin beetta;
 ati diinota kiyya mara dhaggita.
²⁰ Arrabi na miidhee,
 anille addii kutadhe;
 nama naaf nayu barbaadee,
 ammoo dhabe.
 Nama na jajjabeessulle barbaadee,
 ammoo tokkolle hin dhaganne.
²¹ Akka nyaadhuuf hadhaa naaf kennane;
 dheebuu tiyyaaf
 daadhii woyni'ii dhangaggoottuu naaf kennane.
²² Qoriin isaanii fonxorroo isaanii teetuu ti;
 worra isaan woliin nyaatuufille tiyyoo teetuu ti.
²³ Akka hin dhaggine,
 ilti isaanii dukkanoottuu ti;
 hidhi isaanii yennaa mara lallequu ti.

* **69:18** *Dhiibbi: Yookiin dhiibbi*

- 24 Mufii teeti isaan irratti dhangalaasi;
aariin teeti ta bobeettu isaan dhaqqadduu ti.
- 25 Quttumi isaanii onuu ti;
dunkaanii isaanii keessa nami hin le'in.
- 26 Isaan worra ati dhaante ari'an;
marroo farra worra ati madeessitee haasowan.
- 27 Yakkaa ifii irratti
yakkaa akka dabalatanuuf isaan lakkisi;
gara balchummaa teetii isaan hin fidin.
- 28 Maqaan isaanii
galmee worra jiraata'aa keessaa haqamuu ti;
isaan worra balchoolee woliin hin galmeeffamin.
- 29 Ani ammoo farraa fi rakkinna guddaa keessa jira;
ee Waaqa, fayyisiisi keeti ol na qabuu ti.
- 30 Ani faaru'uun maqaa Waaqaa hin leellisa;
galatalle'een isa ulfeessa.
- 31 Kun korma yookiin dardara
gaafaa fi qeenca qabu caalaa,
Mootii Waan Maraa hin gammachiisa.
- 32 Worri cunqurfame tana dhaggee hin gammada;
isin worri Waaqa barbaaddanu
gadhaan keessan jajjabaatuu ti;
- 33 Mootiin Waan Maraa worra rakkata'aaf hin dhage'a;
kolbaa ifii worra hidhameerulle hin tuffatu.
- 34 Ol-gubba'aa fi latti,
abbaaya'aa fi wonni isii keessa munyuuqu marti
isa leellisanuu ti.
- 35 Waaqi qachaa Xiyoonii hin baasa;
qachoota Yihuda'aalle deebisee hin ijaara.
Kolbaan isaalle achitti qubatee,
lafa san hin qabatti.
- 36 Ijoolleen tajaajiltoota isaa lafa san hin dhaalti;
worri maqaa isaa jaalatulle lafa san keessa hin le'a.

70

Diinota jalaa Bayiisaaf Daadimata Dhikaate

Sooressa faarfattootaatiif, faaruu Daawitii ta akka Waaqi isa qaabatuuuf faarfatante.

- 1 Ee Waaqa na baasi;
Mootii Waan Maraa kiyya na qarqaariisaaf ariifadhu.
- 2 Worri na ijjeesiisaaf barbaadu,
fokkifatee jaanjuruu ti;
worri na miidhiisaaf halchu,
salphatee gara duubaa deebi'uu ti.
- 3 Worri, «Baga, бага!» naan jedhu,
fokkifatee gara duubaa deebi'uu ti.
- 4 Worri si barbaadu marti ammoo,
si'iin gammadee firinxiixuu ti.
Worri fayyisiisa keeti jaalatu marti,
yennaa mara, «Waaqi gudda'a» jedhuu ti.

- ⁵ Ani rakkataa hiyyeessa;
 Ee Waaqa, ariifadhuu gara kiyya koy;
 Ee Mootii Waan Maraa kiyya
 ati qarqaara'aa fi fayyisaa kiyya
 na irraa hin turin.

71

Daadimata Jaarsaa

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa, ani sitti baqadheera;
 ani ijjumaa hin fokkifatin.
² Ati balchummaa teetiin
 na baasiitii, na hamburi;
 gurra keeti gara kiyya deebifadhuutii, na baasi.
- ³ Ati rassaa kiyya ka ani itti baqadhu,
 ka ani yennaa mara itti dhokadhu naa te'i;
 ati rassaa kiyyaa fi
 kushee jadduu tiyya waan teeteef,
 na hamburiisaaf, ajaja baatteerta.
- ⁴ Ee Waaqa, harka worra hamaaleyyi'ii,
 harka worra hantuu hujuutii fi
 harka worra gadhi-jabeeyyi'ii keessaa na baasi.
- ⁵ Ee Gootta'a, Mootii Waan Maraa,
 ati addii tiyya waan teeteef,
 dargaggummaa tiyyaa jalqaddee
 ka ani itti addadhu.
- ⁶ Gadhaa haadha tiyyaa keessaa
 akka dhaladhu sittuu godhe;
 dhaloota kiyyaa jalqabee sitti irkadheera;
 ani yennaa mara si leellisaa.
- ⁷ Ani nama heddu'uuf fakkeenaa te'eera;
 ati ammoo addee jadduu ani itti baqadhu.
- ⁸ Guyyaa guutuu leellisii fi ulfinni keeti
 afaan kiyya guuteera.
- ⁹ Yennaa ani dulloometti na hin gatin;
 yennaa ani jabeenna kiyya dhabetti na hin lakkisin.
- ¹⁰ Diinoti kiyya waan hantuu na irratti dubbatan;
 worri na ijjeesiisaaf barbaadu,
 woli woliin mari'atan.
- ¹¹ Isaan, «Waaqi isa lakkiseera;
 ka isa baasu hin jiru;
 ari'a'aatii qaba'a» jedhan.
- ¹² Ee Waaqa, na irraa hin fagaatin;
 Ee Waaqa kiyya, na qarqaariisaaf ariifadhu.
- ¹³ Worri diina natti te'u fokko'oon baduu ti;
 worri na miidhiisaaf barbaadu,
 tuffatamaa fi salphinna uffatuu ti.
- ¹⁴ Ani yennaa mara addii si godhadha;
 ittuma ede'ee, ede'ee si leellisaa.
- ¹⁵ Laakkossa hujii balchummaa teetiitii fi
 fayyisiisa keetii haga wollaalulle,
 afaan kiyya guyyaa guutuu hin dubbata.

- ¹⁶ Ee Gootta'a, Mootii Waan Maraa,
ani dhufee hujii teeti jadduu san,
balchummaa teeti qofa lallaba.
- ¹⁷ Ee Waaqa, dargaggummaa tiyyaa jalqaddee,
ati na barsiitteerta;
ani haga ammaa hujii teeti ta maade'ee odeessa.
- ¹⁸ Hunna teeti dhaloota dhufuuf,
hujii teeti ta maade'ee worra dhufu'uu jiru maraaf,
haga odeessutti
ani dulloomee arrii baasulle,
Ee Waaqa, na hin lakkisin.
- ¹⁹ Ee Waaqa, balchummaan teeti guddattee
ol-gubbaa geetteerti;
ati waan guddoo hujjeerta;
ee Waaqa, ka akka keetii eennu?
- ²⁰ Ati rakkoo heddu'uu fi
farra akka dhaggu na gootulle,
ati ammalle jiruu tiyya adde'etti deebittee,
qilee lafa jalaa keessaa ol na hin baatta.
- ²¹ Ati ulfinna kiyya itti edeeta;
ammalle deebittee na hin jajjabeessita.
- ²² Ee Waaqa kiyya,
marroo addatamummaa teetiitiif,
ani kiraara guddichaan si leellisaa;
Ee Woyyicha Israa'elii,
ani maseenqo'oon faaruu leellisaa sii faarsa.
- ²³ Yennaa ani faaruu leellisaa si'iif faarsu,
afaan kiyya, lubbuun tiyya ta ati wodattelle
si'iif hin ilillisan.
- ²⁴ Worri na miidhiisaaf barbaadu,
fokkifatee waan salphateef,
arrabi kiyya guyyaa guutuu
balchummaa teeti dubbata.

72

Daadimata Marroo Mootichaa

Faaruu Solomoonii.

- ¹ Ee Waaqa, haqa muriisa keeti mootichaaf,
balchummaa teetille isaaf kenni.
- ² Innille kolbaa teeti balchumma'aan,
hiyyeeyyiille haqaan hin bulcha.
- ³ Gaaroti nageya,
koobotille balchummaa hin kennan.
- ⁴ Mootichi odduu kolba'aatitti
worra cunqurfameef hin falmata;
inni ijoollee worra hiyyeeyyi'ii hin baasa;
cunqursitoota hin butucha.
- ⁵ Haga adu'uu fi ji'i le'anuu,
mootichi dhalootaa haga dhalootaatitti bulchuu ti.

- ⁶ Inni akka bokkeya
fichaa marri irraa haamame irratti roobuu,
akka tiifuu lafa jiittuu te'uu ti.
- ⁷ Bara isaatitti balchaan hin daraara;
haga ji'i ifa kennu mara, nageenni hin bacata.
- ⁸ Inni abbaayaa irraa haga abbaaya'aatitti,
laga Efraaxiisii irraa haga qaccee lafaatitti bulchuu ti.
- ⁹ Worri goomolee keessa le'u isa duratti sagaduu ti;
diinoti isaa biyyee arraabanuu ti.
- ¹⁰ Moototi Tarshiishii, ta oddoola keessaa,
gibira isaaf fidanuu ti;
moototi Sheeba'atii fi Saaba'aalle
kennansa isaaf dhikeessanuu ti.
- ¹¹ Moototi marti isaaf sagadanuu ti;
gosi biyya adda addaa marti isa tajaajilanuu ti.
- ¹² Inni worra hiyyeeyyii gara isaa iyyu,
worra rakkataa nama qarqaaru hin qanne hin baasa.
- ¹³ Inni worra dadhaba'aa fi hiyyeeyyi'iif gadhaa laafa;
jiruu worra rakkata'aalle hin hambura.
- ¹⁴ Dhiigi isaanii isa duratti gatii-qabeessa waan te'eef,
inni cunqurfamiisaa fi hunnaan irratti ka'iisa irraa,
lubbuu isaanii hin woda.
- ¹⁵ Mootichi bara dheeraa le'uu ti;
worqiin biyya Sheeba'aa isaaf kennantuu ti;
kolbaan yennaa mara isaaf daadimattuu ti;
guyyaa guutuu isa eebbittuu ti.
- ¹⁶ Lafa san keessa midhaan bacatuu ti;
koobota gubba'atti latuu ti;
midhaan inni buusulle
akka midhaan Libaanonii misuu ti;
Kolbaan qachaa keessaa,
akka marra diida keessaa bacattuu ti.
- ¹⁷ Maqaan isaa haga bara baraa jabaatee le'uu ti;
gurri isaa haga bara aduun jirtu mara jiraatuu ti.
Gosi biyya adda addaa marti isaan eebbifantuu ti;
Isaan, «Inni eebbifama'a» jedhane
isa waamanuu ti.
- ¹⁸ Mootiin Waan Maraa,
Waaqi Israa'elii,
ka qofuu waan maade'ee huju,
leellifamuu ti.
- ¹⁹ Maqaan isaa ulfaataan
haga bara baraa leellifamuu ti;
biyyi lafaa duudiin ulfinna isaatiin guutantuu ti.
- Ameen! Ameen!
- ²⁰ Daadimati Daawitii ilma Iseyii
as irratti muummowe.

73

(Far. 73–89)

*Haqa Waaqaa**Faaruu Asaafii.*

- ¹ Worra Israa'elootaa ka gadhaa qulqullu'uutiif,
Waaqi dhugumaan dansa'a.
- ² Ani akka kiyyatti ammoo, miilli kiyya fallaadee,
mucucaadhee jigiisaaf diqqoo hafe.
- ³ Ani worri hamaan qananoomuun dhaggee,
worra ifi jaju hinaafe.
- ⁴ Isaan dhiboo waan hin qanneef,
nafi isaanii fayya'a; gabbaalle'e.
- ⁵ Isaan akka worra dhibi'ii rakkinna hin qabanu;
akka kolbaa dhibi'ii balaan isaan hin dhaqqabu.
- ⁶ Tanaaf, isaan koora akka seesa mormaa
mormatti naqataneeran;
hunnaan nama irratti ka'iisa
akka woya'aa uffataneeran.
- ⁷ Ila isaanii coomatti iitessee gad baase;
gadhaa isaanii hammeennatti guutee irraa dhangala'e.
- ⁸ Isaan namatti murgaa waan hantuu dubbatan;
kooraan nama cunqursan.
- ⁹ Afaaniin Waaqa ol-gubba'aa arrassan;
arrabaan lafa duudii dhaqqaban.
- ¹⁰ Tanaaf, kolbaan Waaqaa gara isaanii deebitee,
waan isaan jedhanu mara fudhatti.
- ¹¹ Isaan, «Waaqi attam beekuu dande'a?
Waaqi Ol-Aanaan beekkumsa qabaa?» jedhan.
- ¹² Worri hamaan akkas jiran;
yennaa mara qanannumma'aan le'aa,
durummaa ede'atan.
- ¹³ Gadhaa kiyya qulqulleeffachuun,
yakkaa hujiisa irraa
ifi eeggachuun kiyya tolumaa ree?
- ¹⁴ Guyyaa guutuu balaan na dhaqqabe;
ganama mara adabame.
- ¹⁵ Ani adoo, «Akkuma isaanii hin dubbadha» jedhee jiraadhee,
kolbaa teeti dabarsee kenneeraayyu.
- ¹⁶ Ani yennaa waan kana hubatiisaaf itti yaade ammoo,
akka malee rakkisaa natti teete.
- ¹⁷ Ani haga Dunkaanii Woyyittii seenee,
waan worri hamaan te'u hubadhutti,
akka malee na rakkitte.
- ¹⁸ Ati dhugumaan lafa mucucaattu irra
isaan dhaabbachiitta;
jigane akka badanu isaan goota.
- ¹⁹ Isaan attam attam dedhuma badane!
Isaan attam attam bararaqiisaan muxuqi jedhane!
- ²⁰ Akkuma wonni oojju'uun dhaggane,

yennaa dammaqane dhabantu,
Ee Gootta'a, yennaa ati kaatu,
isaan ila teeti duraa hin dhabaman.

- ²¹ Yennaa lubbuun natti hadhoothe,
yennaa gadhaan na cite,
²² ani nama gowwaa,
woy hubatuu hin dandeenne te'ee,
si duratti akka hori'ii te'e.
- ²³ Te'uu malee,
ani yennaa mara si'uma woliin jira;
atille harka kiyya middicha na qadda.
- ²⁴ Ati gorsa keetiin na sooressita;
muummee irratti gara ulfinnaa na hin fudhatta.
- ²⁵ Ol-gubba'atti si malee eennu qaba ree?
Lafa irralle'etti si malee ka ani barbaadu,
ka dhibiin hin jiru.
- ²⁶ Foon kiyyaa fi keessi kiyya dadhabuu dande'an;
Waaqi ammoo jabeenna kiyyaa fi
qooda kiyya ka bara baraa ti.
- ²⁷ Kunoo, worri si irraa fagaatu hin bada;
worra si'iif hin addatanne ati hin balleessita.
- ²⁸ Anaaf ammoo gara Waaqa dhikaatiisi dansa'a;
hujii teeti mara odeessiisaaf,
ani si Goottaa Mootii Waan Maraa
addee itti baqadhu godhadheera.

74

Kolbaan Akka Baatuuf Daadimata Dhikaate

Wolaloo Asaafii.

- ¹ Ee Waaqa, ati maaf ijjumaa nu lakkitte?
Hoolota tika keeti jala jiranu irratti,
aariin teeti maaf bobeette?
- ² Kolbaa teeti ta durii jalqaddee ifiif filatte,
ta gosa teeti akka te'anuuf
garbummaa keessaa wodatte,
gaara Xiyoonii,
ka dhuttee irra qubatte qaabadhu.
- ³ Diinoti waan mana keeti keessaa
mara balleessaneeran;
koyiitii waan diigamee hafe kana ilaali.
- ⁴ Diinoti keeti mana keeti keessaa bookkisane;
beessisa ifii ittiin beekkamanulle
achi dhaabbataneeran.
- ⁵ Isaan namoota gongomaa keessaa muka muriisaaf,
agaraa fudhatanu fakkaatan.
- ⁶ Seesa muka irraa qiriixamee hujame mara,
agara'aa fi burrisaan butuchane.
- ⁷ Isaan mana keeti ibiddaan gubane;
addee maqaan keeti itti waamamu batteessane.
- ⁸ Isaan gadhaa ifii keessatti,

«Ijjumaa isaan hin balleessina» jedhane;
 isaan lafa san keessatti
 addee Waaqi itti waaqonfamu mara gubane.

- ⁹ Haganaa achi beessisi hin jiraatu;
 raagille hin jiraatu;
 Kun haga yoomii akka te'u,
 nu keessaa nami beeku hin jiru.
- ¹⁰ Ee Waaqa haga yoomii diinoti sitti murgan?
 Haga yoomii nyaaphoti maqaa keeti tuffatan ree?
- ¹¹ Ati maaf isaan hin adabin?
 Maaf isaan hin balleessin?
- ¹² Ee Waaqa, durii duriitii jalqaddee,
 ati mootii kiyya;
 ati fayyisiisa keeti
 lafa irratti fidde.
- ¹³ Ati hunna teetiin abbaayaa gargar kutte;
 mataa bineensota jawwee fakkaatuu
 ka abbaayaa keessaa butuchite.
- ¹⁴ Ati mataa hedduu bineensa naacha fakkaatu
 ka abbaayaa keessaa
 ka, «Lewaataan» jedhamu butuchite;
 foon isaa bineensota goomole'eetiif,
 sagalee gootee kennite.
- ¹⁵ Ati maddaa fi caancoo akka maddu goote;
 laga yennaa mara yaa'u gossite.
- ¹⁶ Guyyaan keeti; halkanille keeti;
 adu'uu fi ji'alle addee isaaniititti sittuu keye.
- ¹⁷ Ka meessaa lafaa tolche si'i;
 bonaa fi gannalle sittuu dade.
- ¹⁸ Ee Mootii Waan Maraa,
 diinoti keeti attam akka si irratti murgane,
 kolbaan gowwaan
 maqaa keeti attam akka tuffatte qaabadhu.
- ¹⁹ Lubbuu kolbaa teetii worra akka saphaliisaa,
 bineensatti dabarsitee hin kennin.
 Jiruu kolbaa rakkattuu teetii
 haga bara baraa hin dedhin.
- ²⁰ Lafa addee dukkanaa keessatti,
 hunnaan nama irratti ka'iis waan guuteeruuf,
 ati gondoоро teeti qaabadhu.
- ²¹ Worri cunqurfame fukkifatee
 akka deebi'u hin godhin;
 worri hiyyeeyyi'ii fi deegi
 maqaa keeti leellisanuu ti.
- ²² Ee Waaqa ka'i! Waan keeti falmadhu;
 worri gowwaan
 guyyaa guutuu akka sitti murgu qaabadhu.
- ²³ Hogaa nyaapha keetiitii fi

hargiisa diina keetii hin dedhin.

75

Waaqi Abbaa Mura'aa Ti

Sooressa faarfattootaatiif, faaruu Asaafii ta akka yoyyoma faaruu, «Hin balleessin» jedhantee beekkantutti faarfatante.

- ¹ Ee Waaqa, nuuti si galateeffanna;
maqaan keeti dhikoo waan jiruuf,
nuuti si galateeffanna;
kolbaan hujii teeti ta maade'ee hin odeessiti.
- ² Waaqa ati, «Ani yennaa muraa kennu murteesseera;
ani yennaa sanitti muraa sirri'ii hin kenna.
- ³ Yennaa lafaa fi wonni isii irraa marti tachootu,
utubaa isi'ii ka jabeessu ana.
- ⁴ Ani worra kooruun, «Haganaa achi hin koorina'a!»
Worra hamoole'een, «Gaafa hin baasina'a!»
⁵ Gaafa keessan gara ol-gubba'aa
ol hin togina'a!
Morma yaafattanee
hin dubbatina'a!» jedhaan» jetta.
- ⁶ Ulfinni baya adu'uu irraa,
yookiin seensa adu'uu irraa,
yookiin goomolee keessaa hin dhufu.
- ⁷ Muraa ka kennu ammoo Waaqa;
inni tokko gadi qabee,
kaan ol hin qaba.
- ⁸ Mootiin Waan Maraa
muduunuu daadhii woyni'ii ta mufi'ii
hoomachoottuu harkaa qaba;
inni gad isii cossa;
worri hamaaleyyiin lafaa marti,
cingifatane unan.
- ⁹ Ani ammoo haga bara baraa tana hin lallaba;
Waaqa Yaaqoobii faaru'uun hin leellisa.
- ¹⁰ Inni hunna worra hamoole'ee hin cassa;
hunni worra balchoole'ee ammoo hin ede'anti.

76

Injifatiisa Waaqaa

Sooressa faarfattootaatiif, faaruu Asaafii ta meya ribu'uutiin faarfatante.

- ¹ Waaqi biyya Yihuda'aatitti beekkama'a;
Israa'el keessatti maqaan isaa gudda'a.
- ² Dunkaaniin isaa Yerusaalem keessa;
addeen woyyittiin isaa gaara Xiyyoonii irra.
- ³ Inni achitti daaya balaqqisaa deentu,
wontee, shallaaga'aa fi
meya woraanaa mara caccasse.
- ⁴ Ee Waaqa ati attam attam ulfaata'a!

- Arnyi keeti gaarota gugurdaa caala.
- ⁵ Worri jannooti saamamanee,
akka malee rafaneeran;
isaan keessaa tokkolle,
harka ifitiin womaa hujuu hin dandeenne.
- ⁶ Ee Waaqa Yaaqoobii,
xixicha keetiin
abbaan fardaatii fi fardi isaalle jigane.
- ⁷ Ati ammoo sodaatama'a;
yennaa aariin teeti kaate,
eentu si dura dhaabbatuu dande'a?
- ⁸ Ati ol-gubbaa irraa muraa teeti lassite;
biyyi lafaalle sodaattee cadhitte.
- ⁹ Ee Waaqa,
worra biyya lafaa irratti cunqurfame wodiisaaf,
yennaa ati muraa kenniisaaf kaate,
biyyi lafaa cadhitte.
- ¹⁰ Mufiin teeti waan hantuu waan mormituuf,
kolbaan si leellifatti;
worri mufii teeti irraa hafe
waan hantuu hujiisa hin lakkisa.
- ¹¹ Waaqa Mootii Waan Maraa keessaniif
waadaa gala'a;
waan waadaa galtane san muummessa'a.
Worri lafa adaala isaa jiru marti
ka sodaatamu'uu maleef kennansa fidanuu ti.
- ¹² Inni gondaaltota kooranu gad qaba;
mootota lafa irraalle akka malee sodaachisa.

77

Daadimata Jajjabeessiisaa

Faaruu Asaafii sooressa faarfattootaa Yedutu'uuf.

- ¹ Ani qoonqoo ol qabadhee gara Waaqaa iyya;
akka inni naaf dhage'u,
qoonqoo ol qabadhee gara Waaqaa iyya.
- ² Yennaa rakkinnaa keessa Goottaa barbaadadhe;
halkan guutuu harka kiyya diriirse;
te'uu malee ani hin jajjabaanne.
- ³ Ee Waaqa, ani yennaa si qaabadhu hin aada;
yennaa guddisee itti yaadu hin gaggaba.
- ⁴ Ati ila wolitti qabatiisa na dhooggite;
haga dubbatiisa dadhabutti rakkadhe.
- ⁵ Ani marroo bara durii yaade;
woggoota durii durii qaabadhe.
- ⁶ Halkan keessa faaruu tiyya ta durii qaabadhe;
ani guddisee itti yaadee, yaada kiyya qorqoree,
- ⁷ «Goottaan haga bara baraa nu hin gataa?
Inni ijjumaa deebi'ee nu'uuf hin nayuu?
- ⁸ Jaalalli isaa ka bara baraa,
haga bara baraa dhumatee?

- Waadaan inni gale yoona hin muummowuu ree?
⁹ Waaqi marartii dedhee?
 Aariin gadhi-laafummaa isaa dhooggitee ree?» jedhe.
- ¹⁰ Achiin duuba ani, «Hunni Waaqa Ol Aana'aa
 waan jijjiiranteef, gaddee laaleffadhe» jedhe.
- ¹¹ Ee Mootii Waan Maraa,
 ani hujii teeti gugurdoo hin yaadadha;
 bilbaasota ati dur goote hin qaabadha.
- ¹² Ani marroo hujii teetii mara hin heda;
 hujii teeti gugurdoo mara itti hin yaadadha.
- ¹³ Ee Waaqa, karaan keeti woyyicha;
 waaqota keessaa
 guddaan akka Waaqa keennaa eennu?
¹⁴ Ati Waaqa bilbaasa huju;
 ati gosa biyya adda addaa oddu'utti
 hunna teeti mudhitteerta.
- ¹⁵ Ati kolbaa teeti sanyii Yaaqoobiitii fi Yoseefii,
 hunna teeti jaddu'uun wodatteerta.
- ¹⁶ Ee Waaqa bisaan hedduun
 si dhagganee sodaatane;
 qileen abbaaya'aalle raafante.
- ¹⁷ Duumensi bisaan gad coccosse;
 gubbaa irraa mandiisuun mandiite.
 Balaqqeettiin akka daayaa gara mara balaqqitte.
- ¹⁸ Hobonbolattii keessa mandiisuun dhage'ante;
 balaqqeettiin biyya lafaa issite;
 latti rommitee tachoote.
- ¹⁹ Abbaayaa keessa karaa,
 bisaan gugurdaa keessa daandii godhatte;
 faanti miila keetii ammoo hin mudhanne.
- ²⁰ Harka Muuse'eetii fi Aaroniitiin
 akka nama hoolee tissuu
 ati kolbaa teeti soressite.

78

Waaqaa Fi Kolbaa Waaqaa

Wolaloo Asaafii.

- ¹ Ee kolbaa tiyya, barsiisa kiyya caqasa'a;
 gurra keessan
 gara dubbii afaan kiyyaa deebifadha'a.
- ² Ani fakkeennaan afaan kiyya hin saaqadha;
 dubbii dhossa'aa
 ta durii jalqaddee dhoffante hin mudhisa.
- ³ Dubbiin tun ta dhageennee hin beenne,
 ta abbootiin teenna ta durii nutti hinte,
⁴ nuuti ijoollee isaanii hin dhossinu;
 marroo leellisa Mootii Waan Maraatiin fi hunna isaa,
 marroo bilbaasa inni hujee,
 dhaloota dhufutti hin hinna.

- ⁵ Inni ajaja sanyii Yaaqoobiitiif kennee,
 seera Israa'el keessatti baasee,
 ijoollee ifille akka barsiisanu
 abbootii teenna ta durii ajaje.
- ⁶ Wonni inni tana godheef,
 dhalooti itti aanu tana akka beeku,
 worri amma hin dhalatinille
 ijoollee ifi akka barsiisu.
- ⁷ Achiin duuba ijoolleen sun Waaqatti addatti;
 hujii Waaqaalle hin deetu;
 ajaja isaalle yennaa mara eeggatti.
- ⁸ Isaan akka abbootii ifi ta durii,
 mati-jabeeyyi'ii fi worra Waaqa irratti ka'u,
 worra gadhaan isaanii
 Waaqaaf addatamumma'aan hin jabaanne,
 worra qalbiin isaanii
 Waaqaaf hin addatanne hin te'anuu.
- ⁹ Loltooti worri Efreemii
 worri guube'ee fi daaya qabataneeranu,
 guyyaa lolaa baqatane.
- ¹⁰ Isaan gondoorroo Waaqaa hin eeganne;
 akka seera isaatitti deemuu didane.
- ¹¹ Isaan waan inni hujee fi
 bilbaasota inni itti mudhise dedhane.
- ¹² Biyya Gibxi'iititti, diida Zo'aaniititti,
 fuula abbootii isaanii duratti
 Waaqi bilbaasota huje.
- ¹³ Inni abbaayaa gargar kutee,
 keessa isaan dabarse;
 bisaanille akka tuula'aa dhaabbachiise.
- ¹⁴ Guyyaa duumensaan,
 halkan guutuu ifa ibiddaatiin isaan sooresse.
- ¹⁵ Inni lafa goomole'ee keessatti rassaa dhoosee,
 bisaan akka bisaan abbaaya'aa,
 kenneefii isaan obaase.
- ¹⁶ Inni rassaa keessaa bisaan baasee,
 akka lagaa lolaase.
- ¹⁷ Isaan ammoo ittuma ede'anee
 isa irratti cubbuu hujanee,
 goomolee keessatti
 Waaqa Ol Aanaa irratti ka'ane.
- ¹⁸ Isaan sagalee halchane gaafatiisaan,
 Waaqa haga ilaalane.
- ¹⁹ Isaan Waaqa irratti ka'anee,
 «Waaqi goomolee keessatti
 sagalee qopheessee hin dande'aa?
- ²⁰ Yennaa inni rassaa dhowe,
 bisaan akka lagaa keessaa lola'e.
 Inni ammoo sagaleelle nuu kennuu hin dande'aa ree?
 Yookiin kolbaa ifitiif
 foon kennuu hin dande'aa ree?» jedhane.
- ²¹ Mootiin Waan Maraa yennaa tana dhage'e,

- aaree bobee'e;
 sanyii Yaaqoobii irratti ibiddi gabbate;
 aariin isaa Israa'el irratti bobeeette.
- 22 Wonni tun teeteef,
 isaan Waaqatti hin dhugeeffanne;
 akka inni isaan fayyisulle isatti hin addanne.
- 23 Te'uu malee, inni duumensa gubba'aa ajajee,
 balbala ol-gubba'aa bane;
 24 akka isaan nyaatanuuf
 mannaa gad isaaniif roobisiisee,
 midhaan ol-gubba'aa isaaniif kenne.
- 25 Maarre isaan
 sagalee ergantoota Waaqaa nyaatane;
 Waaqi sagalee isaan quussitu isaaniif erge.
- 26 Inni qilleensi baya adu'uu akka ka'u godhe;
 hunna ifitiin qilleensa kibbaalle kaase.
- 27 Inni foon akka biyye'ee bacatu,
 barbadi-kille akka maansa abbaaya'aa
 isaaniif roobisiise.
- 28 Gororrii san quttuma isaanii keessa,
 adaala dunkaanii isaanii maratti gad harcaase.
- 29 Inni waan isaan dharra'ane waan isaanii kenneef,
 isaan nyaatanee akka malee quufane.
- 30 Ammoo adoo isaan dharraa hin bayinuu,
 adoo nyaatiisatti jiranuu,
- 31 Waaqi isaanitti aaree,
 isaan keessaa worra jajjabaa ijjeese;
 dargaggeeyyii Israa'eliille qoome.
- 32 Tana mara keessatti
 isaan cubbuu hujiisa hin lakkinne;
 bilbaasa inni godhelle hin dhugeeffanne.
- 33 Tanaaf, inni ganna isaanii
 akka hafuura baafata tokkochaa godhee,
 jiruu isaanii bararaqaan fixachiise.
- 34 Yennaa inni isaan keessaa ijjeese,
 isaan isa barbaadane;
 cubbuu irraa deebi'ane,
 gadhaa tokkochaan gara isaa deebi'ane.
- 35 Isaan Waaqi rassaa isaanii,
 Waaqi Ol Aanaan
 wodoo isaanii akka te'e qaabatane.
- 36 Isaan ammoo afaaniin isa kookkisane;
 arraba ifitiin soba isatti dubbatane.
- 37 Gadhaan isaanii isaaf hin addatanne;
 gondooroo isaalle hin eeganne.
- 38 Waaqi ammoo kolbaa ifitiif mararee,
 yakkaa isaaniif araarama malee,
 isaan hin balleessine;
 inni yennaa hedduu aarii ifii caffate;
 mufii ifii mara ol hin kaanne.
- 39 Inni nama foonii qofa te'iisa isaanii,

- qilleensa dabaru,
ka deebi'ee hin dhunne akka te'ane qaabate.
- 40 Isaan goomolee keessatti
yennaa hedduu isa irratti ka'anee,
gammoojjii keessatti
yennaa hedduu isa gaddisiisane.
- 41 Isaan itti deddeebi'anee
Waaqa haga ilaalane;
Woyyicha Israa'elii gaddisiisane.
- 42 Isaan hunna isaa,
ta guyyaa inni diinota jalaa isaan wodee,
43 biyya Gibxi'ii keessatti hujii baasaatii fi
bilbaasota inni diida Zo'aaniititti huje hin qaabanne.
- 44 Inni bisaan laga isaanii mara
gara dhiigaa jijjiire;
tanaaf worri Gibxi'ii bisaan yaa'u keessaa
unuu hin dandeenne.
- 45 Inni tiiticha isaan iddu,
raacha isaan balleessu itti erge.
- 46 Midhaan isaanii korophiisaaf,
eloo isaanii awwaannisaaf kenne.
- 47 Muka woynii isaanii dhakaa roobaatiin,
muka harru'uu ka isaanii qorraan balleesse.
- 48 Loon isaanii dhakaa roobaatiin,
karra horii isaanii banqo'oon fixe.
- 49 Inni aarii ifii ta bobeettu,
mufii ifii, aarii jaddu'uu fi
golii ergantoota Waaqaa
ta balaa badi'ii hiikee isaanitti gad lakkise.
- 50 Inni aarii ifitiif daandii qopheesse;
lubbuu isaanii bala'aaf dabarsee kenne malee,
du'a irraa isaan hin hamburre.
- 51 Inni biyya Gibxi'ii keessatti,
angafa te'ee ka dhalate,
ilma angaficha mara
dunkaanii sanyii Kaamii keessatti ijjeese.
- 52 Achiin duuba inni kolbaa ifii
akka hoole'ee achii baasee,
akka tika hoole'eelle
goomolee keessa isaan sooresse.
- 53 Inni nageyaan waan isaan sooresseef,
isaan hin sodaanne;
diinota isaanii ammoo abbaayaan liqinsite.
- 54 Inni gara lafa woyyittii ifii,
gara gaara harka ifii middichaan injifatee qabateeruu isaan fide.
- 55 Inni gosa biyya adda addaa isaan duraa ari'ee baase;
lafa isaanii isaan dhaalchisee,
mana isaaniille gosa Israa'eliitiif qoode.
- 56 Isaan ammoo Waaqa Ol Aanaa haga ilaalanee,
isa irratti ka'ane;
seerata isaalle hin eeganne.

- 57 Isaan akkuma abbootii ifii ta durii irraa garagalanee,
addatamuu dhabanee
akka guubee qajeelatti daaya hin darbannee micciiramane.
- 58 Addee waaqonfannaa ifitiin isa aarsane;
waaqota dharaa ifitiin hinaaffa'atti isa kaasane.
- 59 Waaqi tana yennaa dhage'e, aaree bobee'e;
inni ijjumaa Israa'el gate.
- 60 Inni addee bultoo ifii, ka Shiilo'oo,
dunkaanii odduu namaatitti keessa bulu lakkise.
- 61 Inni Saanduqa Gondooro'oo,
ka beessisa hunnaa isaatii fi ulfinna isaa te'e,
harka diinaatitti booju'uuf
dabarsee kenne.
- 62 Inni kolbaa ifiititti guddoo aaree,
shallaaga'aaf dabarsee kenne.
- 63 Dargaggeeyyii isaanii ibiddi fixe;
durri isaanii nama heerumtu dhadde.
- 64 Hayyooti isaanii shallaaga'aan dhumatane;
niitoti isaanii
isaaniif bowiisa hin dandeenne.
- 65 Achiin duuba Gootaan
akka waan hirriibaa dammaqee,
akka nama janna
daadhii woyni'ii quufee dhaadatuu ka'e.
- 66 Inni diinota ifii dhowee
gara duubaa deebisee,
haga bara baraa isaan fukkisiise.
- 67 Inni dunkaanii Yoseefii tuffatte;
sanyii Efreemiille hin filanne;
68 ammoo gosa Yihuda'aatii fi
gaara Xiyoonii ka jaalatu filate.
- 69 Inni mana Woyyicha ifii
akka kooba dheera'aa ijaaree,
akka lafaa haga bara baraa jabeessee dhaabe.
- 70 Inni tajaajilaa ifii Daawiti filate;
tika hoole'ee keessaa isa fudhate.
- 71 Hoolee haadhotii ilmoole'ee tissiisa lakkisee,
kolbaa ifii Yaaqoob,
Israa'elii ifitiif tissee akka te'u isa fide.
- 72 Inni gadhaa qajeela'aan isaan tisse;
qarumma'aan guutamee isaan sooresse.

79

Daadimata Nageya Biyyaatiif Dhikaate

Faaruu Asaafii.

- 1 Ee Waaqa, gosi biyya adda addaa
lafa teeti fudhatiisaaf nu lolaneeran;
Galma Woyyicha keeti batteessaneeran;
Yerusaalemille diiganeeran.
- 2 Reeffa tajaajiltoota teetii allaatti'iif,
foon addatantoota teetii bineensaaf
sagalee godhaneeran.

- ³ Isaan adaala Yerusaalemiititti,
dhiiga isaanii akka bisaanii dhangalaasaneeran;
nami isaan awwaalulle hin jiru.
- ⁴ Nuuti gosa biyya addaa
ta ollaa keennaatiif shasha,
gosa biyya adda addaa ta adaala keennaatiif,
waan murgo'ootii fi waan coora'aa teeneerra.
- ⁵ Ee Mootii Waan Maraa,
kun haga yoomii akkas te'a?
Ati haga bara baraa aartaa?
Hinaaffaan teeti
haga yoomii akka ibiddaa bobbeetti ree?
- ⁶ Mufii teeti gosa biyya adda addaa
ta si hin beenne irratti,
mootummoota maqaa keeti hin waammanne
irralla'etti dhangalaasi.
- ⁷ Wonni tana gootuuf,
isaan kolbaa Yaaqoobii fixaneeran;
qe'ee isaanii onsaneeran.
- ⁸ Yakkaa abbootii teenna ta durii,
nutti hin laakkowin;
mataa keenna guddoo waan gad qabanneef,
marartiin teeti ariiti'iin gara keenna dhuttuu ti.
- ⁹ Ee Waaqa fayyisaa keenna,
ulfinna maqaa keetiitiif jedhii nu qarqaar;
maqaa keetiif jedhii nu baasi;
cubbuu teennalle nuu araarami.
- ¹⁰ Gosi biyya adda addaa maaf,
«Waaqi isaanii meet?» jedhatee gaafatan ree?
Dhiiga tajaajiltoota teetii ka dhangalaafameef,
ila teenna duratti haluu bayiisi keeti,
gosa biyya adda addaa oddu'utti beekkamu ti.
- ¹¹ Aadiis worra hidhamee si bira gewuu ti;
hunna teeti guddoon
worra duuti itti murante hamburi.
- ¹² Ee Goota'a,
arraba worri ollaa keennaa si arrassane,
dachaa torba godhiitii itti deebisi.
- ¹³ Achii duuba nuuti kolbaan teeti,
worri tika keeti jala jirru,
haga bara baraa si galateeffanna;
dhalootaa haga dhalootaatitti si leellifanna.

80

Adde'etti Deebi'iisa Israa'eliitiif Daadimata Dhikaate

*Sooressa faarfattootaatiif, faaruu Asaafii ta akka yoyyoma faaruu,
«Daraaraa» jedhantee beekkantutti faarfatante, ta dhugaa bayiisaa.*

- ¹ Ee tissee Israa'elii,
ka sanyii Yoseefii akka hoole'ee sooressitu,
ka barcumaa mootummaa'aa keeti
ka wodhakkaa dada ol-gubba'aa

- ta koola qadduu irra teetteertu,
 nuu dhage'i;
 ifa keeti issiitii,
² sanyii Efreemii, sanyii Beniyaaminiitii fi
 sanyii Minaasee duratti mudhisi.
 Hunna teetiin ka'iitii,
 koyii nu baasi.
- ³ Ee Waaqa adde'etti nu deebisi;
 nuu marariitii nu baasi.
- ⁴ Ee Mootii Waan Maraa
 Waaqa waan mara dande'u,
 haga yoomii daadimata kolbaa teetiititti aarta?
- ⁵ Ati imimmaan akka sagale'ee isaan areerte;
 akka bisaanii imimmaan isaan obaatte*.
- ⁶ Gosi biyya adda addaa ta ollaa keenaa,
 lafa teenna fudhatiisaaf
 akka wol lolanu goote;
 diinoti keennalle nutti murgane.
- ⁷ Ee Waaqa waan mara dande'u,
 adde'etti nu deebisi;
 nuu marariitii nu baasi.
- ⁸ Ati muka woyni'ii† biyya Gibxi'iitii fiddee,
 gosa biyya adda addaa ariitee baattee,
 lafa san keessatti dhaadde.
- ⁹ Ati lafa san cirteefii,
 muki woyni'ii sunille hidda gad fageeffatee,
 lafa san guute.
- ¹⁰ Gaaroti gaaddisa isaatiin gollamane;
 dameeleen isaalle hindheensa gugurdaa gollite.
- ¹¹ Dameelee ifii haga abbaayaa Mediteraaniya'aa,
 kichuu ifille haga laga Efraaxiisii diriirfate.
- ¹² Ati maaf dalleya isatti marfameeru irraa diiddee,
 nami karaa san dabaru marti
 midhaan isaa irraa guurata ree?
- ¹³ Gurreen gongoma'aa irra sirban;
 bineensi marti irraa nyaatan.
- ¹⁴ Ee Waaqa waan mara dande'u,
 gara keenna deebi'i;
 ol-gubbaa irraa gad nu ilaalii, nuu dhaggi;
 muka woyni'ii kana kunuunsi.
- ¹⁵ Muka harki keeti middichi dhaabe kana,
 biqiltuu ifiif guddifate tana eegi.
- ¹⁶ Diinoti muranee, ibiddaan gubaneeran;
 xixxaa teetiin isaan ilaalii, isaan balleessi.
- ¹⁷ Nama harka keeti middicha keessa jiru,
 ka ifiif jabeeffatte,

* **80:5** Obaatte: Yookiin obaache † **80:8** Muka woyni'ii: Muki woyni'ii kun Israa'eloota ilaala.

- harki keeti isa irra jiraatuu ti.
¹⁸ Achiin duuba nuuti
 ijjumaa si irraa duubatti hin deebinu;
 jiruu nuu kenni;
 nuutille maqaa keeti waammanna.
¹⁹ Ee Mootii Waan Maraa
 Waaqa waan mara dande'u,
 adde'etti nu deebisi;
 nuu marariitii nu baasi.

81

Faaruu Guyyaa Jilaa

Sooressa faarfattootaatiif, faaruu Asaafi ta suusulle'een faarfatante

- ¹ Waaqa jabeenna keenna te'eef,
 qoonqoo guddoon faarsa'a;
 Waaqa Yaaqoobiitiif ilillisa'a.
² Faaruu jalqaba'a; dibbeelle dhowa'a;
 maseengoo namatti toltuu fi
 kiraara guddicha dhowa'a.
³ Baatii ji'aatitti, goobana ji'aatitti,
 guyyaa jila teennaatitti tultullaa afuufa'a.
⁴ Kun Israa'eliif seerata;
 ajaja Waaqa Yaaqoobii ti.
⁵ Inni yennaa biyya Gibxi'ii dhowiisaaf baye,
 ajaja kana ijoollee Yoseefiitiif kenne.
 Qoonqoon ani dur hin beenne takka,
⁶ «Ani gurmoo teessan irraa ba'aa buuse;
 harka keessan kollonjoo qabatiisa irraa bilisa baase.
⁷ Isin rakkinna keessa na waammattane;
 anille isin baase;
 addee gollaa jirtu,
 duumensa mandi'u keessaa deebii isinii kenne;
 ani bisaan Mariiba'aa* biratti haga isin ilaale.
⁸ Ee kolbaa tiyya,
 yennaa ani ifi isin eeggachiisu dhage'a'a;
 ee Israa'el, adoo naaf dhageettanee jiraattanee,
 attam attam dansa'a!
⁹ Waaqoti alagaan odduu teessan hin jiraatin;
 waaqota ormaaf hin sagadina'a.
¹⁰ Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan,
 ka lafa Gibxi'ii keessaa isin baase;
 afaan keessan badhisa'aatii banadha'a;
 anille hin guuta.
¹¹ «Kolbaan tiyya ammoo na hin dhageenne;
 Israa'el naaf hin ajajanne.
¹² Maarre ani mataa jabeeyyii akka te'anuuf,
 yaada ifille akka hordofanuuf isaan lakkise.
¹³ Kolbaan tiyya adoo naaf dhageettee jiraattee,
 Israa'el adoo karaa kiyya ideentee jiraattee,

* **81:7 Mariibaa:** Yaadannoo Bay. 17:7 irratti kenname ilaali.

- 14 ani silaa ariiti'iin
diinota isaanii hin jilbiissisaayyu;
harka kiyyalle
gara nyaapha isaanii hin deebifadhaayyu.
- 15 Worri ana Mootii Waan Maraa jibbu
na duratti hin jiganiyyu;
adabbiin isaaniille
haga bara baraa hin teetiiyyu.
- 16 Ani ammoo silaa
qamadii dansaa isin Israa'el areeraayyu;
damma hollaalle isin quussaayyu» jette.

82

Waaqi Bulchaa Ol Aana'a

Faaruu Asaafi.

- 1 Waaqi yaa'ii ol-gubba'aa keessa dhaabbata;
waaqota oddu'utti muraa kenna.
- 2 Inni, «Isin haga yoomii
muraa sirrii hin te'in murtan?
Haga yoomii worra hamaaleyyi'iif golii teetan?
- 3 Worra dadhaba'aa fi
ijoollee abba'aa fi haadha hin qanneef,
dhugaa mura'a;
worra hiyyeeyyi'ii fi worra cunqurfamaa
haga isaanii eega'a.
- 4 Worra dadhaba'aa fi hiyyeeyyii hambura'a;
harka worra hamaaleyyi'ii keessaa isaan baasa'a.
- 5 «Worri hamaaleyyiin hin beekanu
yookiin womaa hin hubatanu;
dukkana keessa deddeebi'an;
hundeen lafaa duudiin raafante.
- 6 Anille, «Isin waaqota;
marti keessanuu
ilmaan Waaqa Ol Aana'aa ti» jedhe.
- 7 Te'uu malee, isin akkuma namaa hin duutan;
akkuma bulchaa tokkoo hin jiddan» jedhe.
- 8 Gosi biyya adda addaa teeti waan teeteef,
ee Waaqa ka'ii, biyya lafaa irratti muraa kenni.

83

Diinoti Israa'elii Akka Injifatamanuuf Daadimata Dhikaate

Faaruu Asaafi.

- 1 Ee Waaqa, hin cadhisin;
hin sarmin yookiin cadhittee hin ilaalin.
- 2 Amumaayyuu diinoti keeti
fiqila kaasaneeran;
worri si jibbu mataa ifii togeera.
- 3 Isaan kolbaa teeti irratti mala dhowani;
worra ati jaalattu irratti mari'atan.
- 4 Isaan, «Maqaan gosa biyya Israa'elii,

deebi'ee akka hin qaabatanne,
akka isaan kolbaa hin teene,
kowaa, isaan balleessinaa» jedhan.

- ⁵ Yaada tokkoon wolii galanee
si irratti mala dhowane;
si irratti ka'iisaaf wol gondooratane;
⁶ Isaan kun kolbaa Edoonii, kolbaa Ishimaa'elii,
kolbaa Mo'aabiitii fi Aggaarii,
⁷ kolbaa Gebaaliitii fi Amoonii, Amaaleqoota,
worra Filisxeemotaatii fi Xiirroosii ti.
⁸ Worri Asooriille isaanitti ede'amanee
sanyii Looxii gargaarane.
- ⁹ Worra Miidiyaanii akkuma goote,
laga Qiisoniititti
Siisaara'aa fi Yaabiin akkuma goote,
isaan kanalle akkasuma godhi.
- ¹⁰ Worri sun Endooritti ijjeefamanee,
shamanee lafaaf kosii te'ane.
- ¹¹ Qondaaltota isaanii
akkuma Oreebiitii fi Ze'eebii,
sooressitoota isaanille
akkuma Zeeba'aa fi Xaalmuna'aa godhi.
- ¹² Isaan, «Lafa kaloo kolbaa Waaqaa
fudhannee teenna godhanna» worra jedhe.
- ¹³ Ee Waaqa kiyya
akka bukuu hobonbolattiin garagaggalchituu,
akka huura qilleensi fuudhee deemuu isaan godhi.
- ¹⁴ Akkuma ibiddi gongomaa muxuqi godhu,
akkuma bobeenni gaara gubu,
¹⁵ ati bubbee teetiin isaan ari'i;
hobonbolattii teetiin isaan bararassi.
- ¹⁶ Ee Mootii Waan Maraa,
akka isaan maqaa keeti barbaadanu,
isaan fokkisiisi.
- ¹⁷ Haga bara baraa isaan qaanessiitii naasisi;
isaan salphinnaan badanuu ti.
- ¹⁸ Isaan maqaan keeti Mootii Waan Maraa akka te'e,
ati callaan lafa duudii irratti
Waaqa Ol Aanaa akka teete beekanuu ti.

84

Mana Waaqaa Dharra'uu

Sooressa faarfattootaatiif, faaruu ilmaan Qoraahii ta suusulle'een faarfa-
tante.

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa
ka Waan Mara Dadde,
Galmi ati keessa leetu
attam attam natti tola!
- ² Lubbuun tiyya
badhinna Dunkaanii Woyyittii
Mootii Waan Maraa keessa

- jiraatiisaaf dharraatee gaggaddi.
Gadhaan kiyyaa fi foon kiyya,
Waaqa jiraata'aaf ilillisan.
- ³ Ee Mootii Waan Maraa
Ka Waan Mara Dadde,
mootii kiyya, Waaqa kiyya;
addee ciinca'aa teetitti,
sinbirrooti didiqqoon mana ifii,
maddoolle mandhee ilmoolee ifii keyattu
ijaarrataneeran.
- ⁴ Worri mana keeti keessa le'u ka gammade;
isaan yennaa mara si leellisan.
- ⁵ Worri gara gaara Xiyoonii deemiisaaf,
gadhaa ifii keessatti dharra'ee,
hunna si biraa dhaggatu ka gammade.
- ⁶ Isaan yennaa dhooqa godde,
ta, «Baka» jedhantu keessa dabaranu,
addee maddaa isaaniif teeti;
bokkeenni furmaataalle
dhooqa san keessa haroo eelcha.
- ⁷ Isaan akkuma deemanuun jabeenna ede'atan;
Waaqa Xiyoona keessaa dura hin dhikaatan.
- ⁸ Ee Mootii Waan Maraa
Waaqa waan mara dande'u,
daadimata kiyya dhage'i;
Waaqa Yaaqoobii na caqasi.
- ⁹ Ee Waaqa, wontee teenna ilaali;
mooticha muuddeertuuf gadhaa laafi.
- ¹⁰ Addee dhibii
guyyaa kuma tokko ooliisaa mannaa,
badhinna Galma woyyicha keetii keessa
guyyaa tokko ooluu woyya;
Dunkaanii worra hamaaleyyi'ii
keessa tee'iisaa mannaa,
eedduu balbala mana Waaqa kiyyaa
te'u naa woyya.
- ¹¹ Mootiin Waan Maraa
Waaqi akka adu'uu tii fi akka wonte'ee ti;
inni fudhatamaa fi
ulfinna akka dhaggatanu hin godha.
Mootiin Waan Maraa worra komii hin qanne,
waan dansaa hin dhooggatu.
- ¹² Ee Mootii Waan Maraa
Ka Waan Mara Dadde,
nami si'itti addatu ka gammade.

85

Daadimata Nageya Biyyaatiif Dhikaate

Faaruu ilmaan Qoraahii, Soorressa faarfattootaatiif.

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa

- ati lafa teeti mararteerta;
 sanyii Yaaqoobiitiif
 milkii adde'etti deebitteerta.
- ² Ati yakkaa kolbaa teetii araaranteerta;
 cubbuu isaaniille mara golliteerta.
- ³ Mufii teeti lakkitteerta;
 aarii teeti ta bobeettu irraa deebiteerta.
- ⁴ Ee Waaqa fayyisaa keenna,
 adde'etti nu deebisi;
 nutti mufatiisa lakkisi.
- ⁵ Ati haga bara baraa nutti aartaa ree?
 Aarii teeti dhaloota irraa
 gara dhalootaatitti dabarsitaa ree?
- ⁶ Kolbaan teeti akka sitti guddoo gammadu,
 deebittee nu hin jiraachittuu ree?
- ⁷ Ee Mootii Waan Maraa
 jaalala keeti ka bara baraa nutti mudhisi;
 fayyisiisa keeti nuu kenni.
- ⁸ Ani waan Waaqi Mootiin Waan Maraa dubbatu
 hin caqasa;
 kolbaan isaa, worri isaaf addatame,
 gara gowwumma'aatitti hin deebi'in malee,
 Mootiin Waan Maraa
 nageya isaaniif waadaa gala.
- ⁹ Ulfinni isaa
 lafa teenna keessa akka jiraatu,
 dhugumaan fayyisiisi isaa
 worra isa sodaatuuf dhikoo jira.
- ¹⁰ Jaalalli fi addatamummaan wol dhaggan;
 balchumma'aa fi nageenni wol sunqatan.
- ¹¹ Addatamummaan lafa keessaa latti;
 balchummaan ol-gubbaa irraa gad ilaalti.
- ¹² Mootiin Waan Maraa
 waan dansaa hin kenna;
 latti teennalle midhaan hin baatti.
- ¹³ Balchummaan dura isaa deenti;
 tarkaaffii isaatiif daandii qopheessiti.

86

Daadimata Qarqaarsa Waaqaa Dhaggatiisaaf Dhikaate

Daadimata Daawitii.

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa, ani hiyyeessa rakkataa waan te'eef,
 gurra keeti gara kiyya deebifadhuutii,
 naa dhage'i.
- ² Ani waan si'iif ifi kenneeruuf,
 jiruu tiyya eegi;
 tajaajilaa keeti ka sitti addatu baasi;
 ati Waaqa kiyya.
- ³ Ani guyyaa guutuu gara keeti waan iyyuuf,
 ee Mootii Waan Maraa, na marari.
- ⁴ Ee Mootii Waan Maraa,
 ani lubbuu tiyya sitti waan kennadheeruuf

- ana tajaajilaa keeti gammachiisi.
- ⁵ Ee Mootii Waan Maraa, ati dansa'a;
namaafille hin araaranta;
worra si waammatuuf,
jaalala keeti ka bara baraa hin baceessita.
- ⁶ Ee Mootii Waan Maraa, daadimata kiyya dhage'i;
iyya gaaffii tiyyaa caqasi.
- ⁷ Ati waan deebii naa kennituuf,
ani guyyaa rakkinna kiyyaa
si waammadha.
- ⁸ Ee Mootii Waan Maraa,
waaqota keessaa ka akka keetii hin jiru;
hujjiin akka hujii teetiille hin jirtu.
- ⁹ Gootta'a, kolbaan biyya adda addaa
ta ati dadde marti gara keeti dhuttee,
si'iif hin sagaddi;
maqaa keetiifille ulfinna hin kenniti.
- ¹⁰ Ati guddaa waan teeteef,
hujii baasaa hin hujja;
ati callaan Waaqa.
- ¹¹ Ee Mootii Waan Maraa,
ani dhugaa teetiin akka deemuuf,
karaa keeti na barsiisi;
Akka ani maqaa keeti sodaadhuuf,
nama gadhaa tokkochaan na godhi.
- ¹² Ee Mootii Waan Maraa Waaqa kiyya,
ani gadhaa tokkochaan si galateeffadha;
maqaa keetiifille
haga bara baraa ulfinna hin keenna.
- ¹³ Jaalalli keeti ka bara baraa
ka ati naaf qaddu gudda'a;
ati lubbuu tiyya
qilee addee worri du'e jiru irraa hamburteerta.
- ¹⁴ Ee Waaqa,
worri bondhooru na irratti ka'eera;
goliin worra gadhaa jabaatuu,
lubbuu tiyya balleessiisaaf barbaadan;
isaan woyittuu si hin laakkowanu.
- ¹⁵ Ee Gootta'a, ati ammoo,
Waaqa mararaa arja'a;
aari'iif hin ariifattu;
jaalalli keeti ka bara baraatii fi
addatamummaan teetille baca'a.
- ¹⁶ Gara kiyya deebi'ii, na marari;
hunna teeti ana tajaajilaa keetiif kenni;
ana ilma garbittii teetii baasi.
- ¹⁷ Ee Mootii Waan Maraa,
ati waan na qarqaartee
na jajjabeessiteef,
diinoti kiyya dhagganee akka fokkifatanu,
beessisa fudhatama keeti dhaggatiisaa

na irratti mudhisi.

87

Leellisa Yerusaalemiif Dhikaate

Faaruu ilmaan Qoraahii.

- ¹ Mootiin Waan Maraa hundee qachaa ifii
gaarota woyyoota irratti dhaabe;
- ² Addee Yaaqoob le'u mara caalaa,
Mootiin Waan Maraa
seensuma karra Xiyoonii jaalata;
- ³ Ee qachaa Waaqaa,
wonni maade'ee marroo teetiif dubbatanti;
- ⁴ Waaqi, «Ani worra na beeku oddu'utti
Gibxi'ii fi Baabilon hin galmeessa;
worri Filisxeemotaa, worri Xiirroosiitii fi Itoophiya'aalle*
worra achitti dhalate» jedha.
- ⁵ Marroo Xiyoonii, «Dhugumaan, Waaqi Ol Aanaan
waan isii jabeessuuf,
kolbaan tunii fi sunille,
as isii keessatti dhalatte» hin jedhama.
- ⁶ Mootiin Waan Maraa
yennaa gosa biyya adda addaa galmeessu,
«Worri kun achitti dhalatane» jedhee hin barreessa.
- ⁷ Worri faarsuu fi worri sirbu,
«Maddi keenna martinuu
Xiyoon keessa jira» hin jedhan.

88

Daadimata Qarqaarsa Waaqaa Dhaggatiisaaf Dhikaate

Sooressa faarfattootaatiif, faaruu ilmaan Qoraahii, ta akka yoyyoma faaruu, «Mahalaat» jedhantuun faarfante; barsiisa Hemaanii Ezraahichaa.

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa
Waaqa fayyinna kiyyaa,
ani fuula keeti duratti
halkanii fi guyyaa gara keeti iyya.
- ² Daadimati kiyya si bira gewuu ti;
gurra keeti gara iyya tiyya deebifadhu.
- ³ Lubbuun tiyya
rakkinnaan waan guutanteef,
jiruun tiyya
gara addee worri du'e jiruu dhikaatteerti.
- ⁴ Ani worra gad gara boollaa dhaqu oddu'utti
laakkowame;
ani akka nama hunna hin qannee te'e.
- ⁵ Ani akka nama worra du'e keessatti gatamee,
akka worra ijjeefamee awwaala keessa ciisuu,
akka worra ati deebitee hin qaabannee,
ka ati ijjumaa hin qarqaarree te'e.
- ⁶ Ati boolla qilee,
qilee dukkanaa keessa na buutte.

* **87:4** Itoophiyaa: Afaan Ibrootaatiin Kuushi jedha.

- ⁷ Mufiin teeti ulfaattee na irra ciitteerti;
ati danbalii mufii teetii mara
na irra danbalaatteerta.
- ⁸ Firooti kiyya
akka na irraa fagaatanu gooteerta;
akka isaan na diqatanu gooteerta;
akka ani miliquu hin dandeenne,
balbalti natti cufanteerti.
- ⁹ Ilti tiyya gaddaan caararrootteerti;
ee Mootii Waan Maraa,
guyyuma guyya'aan ani si waammadha;
harka kiyyalle gara keeti diriirsa.
- ¹⁰ Ati worra du'eeruuf
waan maade'ee hin hujjaa ree?
Ekeraan kaatee si leellifattii ree?
- ¹¹ Jaalalli keeti ka bara baraa
boolla awwaalaa keessatti,
addatamummaan teeti
addee badi'ii keessatti
hin lallabantii ree?
- ¹² Hujii teeti ta bilbaasaa dukkana keessatti,
yookiin balchummaan teeti
lafa dedhante keessatti hin beekkantii ree?
- ¹³ Ee Mootii Waan Maraa, ani ammoo,
qarqaarsa dhaggatiisaaf gara keeti iyya;
ganama ganamaan
daadimati kiyya si dura dhikaata.
- ¹⁴ Ee Mootii Waan Maraa,
ati maaf ifi irraa na fageessita?
Ati maaf fuula keeti na dhoffatta?
- ¹⁵ Ani dargaggummaa tiyya irraa jalqabee,
farree du'a geyeera;
bararassiisa keeti irraa ka ka'e
waan godhu wollaaleera.
- ¹⁶ Mufiin teeti na irra buuteerti;
bararassiisi keetille na balleesseera.
- ¹⁷ Mufiin teetii fi bararassiisi keeti
guyyaa guutuu akka lola'aa na marsane;
gara maraan karaa natti cufane.
- ¹⁸ Ati lansootaa fi jaalota kiyya na irraa fageessite;
dukkanti callaan jaala kiyya naaf teete.

89

Addatamummaa Waaqaa

Wolaloo Etaanii Ezraahichaa

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa, ani marroo jaalala keeti ka bara baraa,
yennaa mara hin faarfadha;
addatamummaa teeti dhaloota maraaf,
afaan kiyyaan hin lallaba.
- ² Jaalalli keeti ka bara baraa
jabaatee akka dhaabbate,

- addatamummaa teetille
 akka ol-gubba'aa akka ati dhaadde,
 ani hin lallaba.
- ³ Ati, «Ka filadhe woliin gondoorroo godheera;
 tajaajilaa kiyya Daawitiif,
- ⁴ «Sanyii teeti haga bara baraa hin jabeessa;
 barcumaa mootummaa teetii
 dhalootaa haga dhalootaatitti hin dhaaba»
 jedhee kakadheera» jetteerta.
- ⁵ Ee Mootii Waan Maraa,
 ol-gubbaan bilbaasa keeti,
 yaa'iin woyyootaa
 addatamummaa teeti leellifatanuu ti.
- ⁶ Ol-gubbaa keessatti
 ka Mootii Waan Maraatiin wol qixxawu eennu?
 Ergantoota Waaqaa ta ol-gubba'aa keessaa
 ka akka Mootii Waan Maraa jiru eennu?
- ⁷ Yaa'ii woyyittii keessatti
 Mootiin Waan Maraa guddoo ka sodaatame;
 worra adaala isaa jiru mara caalaa sodaachisa'a.
- ⁸ Ee Mootii Waan Maraa
 Waaqa Waan Mara Dande'u,
 ka akka keetii eennu?
 Ati jaba'a;
 Ati waan maraan addatama'a.
- ⁹ Ati bulpheessa abbaaya'aa irratti baallii qadda;
 danbaliin isi'ii yennaa kaatulle, hin sarmisiitta.
- ¹⁰ Bineensa akka jawwe'ee ka, «Rahaab» jedhamu,
 akka waan qalameetitti butuchite;
 irree teeti jaddu'uun diinota keeti bittinneessite.
- ¹¹ Ol-gubbaan teeti; lattille teeti;
 biyya lafaatii fi waan isii keessaa mara ka dade si'i.
- ¹² Kaabaa fi kibballe sittuu dade;
 gaarri Taaboriitii fi gaarri Hermoonii
 maqaa keetiif ilillisan.
- ¹³ Ati irree hunnaamettii qadda;
 harki keeti jaba'a;
 hunna teeti mudhisiisaaf
 harki keeti middichi ol ka'eera.
- ¹⁴ Barcumaan mootumma'aa keeti
 balchumma'aa fi haqa irra dhaabbateera;
 jaalalaa fi addatamummaan siin dura deeman.
- ¹⁵ Ee Mootii Waan Maraa,
 Kolbaan ilillisaa si leellittu,
 ta ifa fuula keeti duraa keessa ideentu gammadduu ti.
- ¹⁶ Isaan guyyaa guutuu maqaa keetitti gammadan;
 balchummaa teetille'een si leellisan.
- ¹⁷ Ati ulfinnaa fi jabeenna isaanii waan teeteef,
 fudhatama si biraa dhagganneen injifanna.
- ¹⁸ Wonteen teenna ta Mootii Waan Maraa ti;
 mootiin keennalle ka Woyyicha Israa'elii ti.

Addii Waaqi Daawitiif Kenne

- 19 Ati yennaa takka tajaajiltoota addatantoota teetitti,
mudhi'iin dubbattee,
«Janna tokkoof qarqaarsa kenneera;
dargaggeessa tokko
odduu kolba'aatii filee ol kaaseera.
- 20 Tajaajilaa kiyya Daawiti dhaggadheera;
zayitii tiyya woyyitti'iin isa muudeera.
- 21 Harki kiyya isa waliin hin jiraata;
irreen tiyyalle isa hin jabeessiti.
- 22 Diinni isa hin injifatu;
nami hamaalle gad isa hin qabu.
- 23 Ani nyaaphota isaa
fuula isaa duratti hin butucha;
worra isa jibbulle gad dhowa.
- 24 Addatamummaan tiyyaa fi
marartiin tiyya isa waliin hin jiraatan;
maqaa kiyyaan hin injifata.
- 25 Ani harka isaa abbaayaa* irra,
harka isaa middichalle
lagoota† irra hin keya.
- 26 Inni, «Ati abbaa kiyya, Waaqa kiyya,
rassaa fayyinna kiyyaa ti» naan hin jedha.
- 27 Anille ilma kiyya angafa,
ka mootota biyya lafa mara caalu isa hin godha.
- 28 Ani haga bara baraa isa jaaladha;
gondooroon ani isa waliin godhelle
ijjumaa hin diigantu.
- 29 Sanyiin isaa haga bara baraa,
barcumaan mootummaa isaalle
akka ol-gubba'aa jabaatee akka dhaabbatu hin godha.
- 30 «Ijoolleen isaa ammoo
seera kiyya yoo diidde,
akka ajaja kiyyaatitti yoo deemuu dhadde,
31 seerata kiyya yoo diigane,
ajaja kiyya yoo eegatuu dhabane,
32 ani cubbuu isaaniitiif ule'een isaan adaba;
yakkaa isaaniitiif isaan hin dhaana.
- 33 Ammoo ani Daawiti jaalatiisa hin lakkisu,
yookiin addatamummaan ani isaaf qabu
soba hin teetu.
- 34 Ani gondooroo tiyya hin diigu,
yookiin dubbii afaan kiyyaa baatelle hin jijjiiru.
- 35 «Ani takkaa woyyummaa tiyyaan kakadheera;
ani Daawiti hin sobu.
- 36 Sanyiin isaa haga bara baraa,
barcumaan mootummaa isaalle
akka adu'uu fuula kiyya dura hin jiraata.
- 37 Mootummaan Daawitii,

* 89:25 Abbaayaa: Abbaayaan tun abbaayaa Mediteraaniya'aa ti. † 89:25 Lagoota: Lagooti kun laga Xeegrosiitii fi Efraaxiisii ti.

- akka ji'a dhugaa bayaa addatamaa gubba'aa,
haga bara baraa jabaattee hin dhaabbatti» jette.
- 38 Amma ammoo
ati ka muuddee mootii gooteetitti mufattee,
isa tuffattee gatteerta.
- 39 Ati gondoosoo tajaajilaa keeti woliin goote diiddee,
kallacha isaa bukuu keessatti gattee batteessite.
- 40 Ati dalleya isaa mara jissitee,
kushee isaalle diidde.
- 41 Worri achiin dabaru marti isa saamane;
inni murgoo olloota ifii te'e.
- 42 Nyaaphota isaatiif jabeenna kennitee,
diinota isaa mara gammachiitte.
- 43 Qara shallaagaa isaa
gara duubaa garagalchite;
lola keessalle'etti isa hin qarqaarre.
- 44 Ulee bokku'uu ta isaa harkaa fuutee,
barcumaa mootummaa isaalle lafatti jissite.
- 45 Bara dargaggummaa isaa itti gabaassitee,
qaanii itti uffitte.
- 46 Ee Mootii Waan Maraa,
tun haga yoomii teeti?
Ati haga bara baraa
ifi dhoffattaa ree?
Haga yoomii mufiin teeti
akka ibiddaa bobeetti ree?
- 47 Barri jiruu tiyyaa
attam attam gabaabaa akka te'e yaadadhu;
ati ilmaan namaa waan bu'aa hin qanneef daddee ree?
- 48 Nami ijumaa hin du'in le'uu dande'u eennu?
Awwaala jalaa ka miliquu dande'u eennu?
- 49 Ee Gootta'a,
jaalalli keeti ka bara baraa guddaan durii,
ka ati addatamummaa teetiin
Daawitiif kakatte meet ree?
- 50 Ee Gootta'a,
ana tajaajilaa keetitti attam attam
akka isaan murgane,
ani arraba gosa biyya adda addaa mara
attam attam akka ossadhe qaabadhu.
- 51 Ee Mootii Waan Maraa,
diinoti keeti ka ati muuddee mootii goote salphisan;
lafa inni dhaqu maratti itti murgan.
- 52 Mootiin Waan Maraa haga bara baraa leellifamu!
Ameen! Ameen!

Kitaaba Arfeesso'oo

90

(Far. 90–106)

Waaqi Dande'aa Bara Baraa Akka Te'e

Daadimata Muusee Nama Waaqaa

- ¹ Ee Gootta'a, ati dhalootaa haga dhalootaatitti,
addee itti baqannu nuuf teeteerta.
- ² Gaarri adoo hin dadamin dura,
yookiin ati lafaa fi biyya lafaa adoo hin dadin dura,
baraa haga bara baraatitti ati Waaqa.
- ³ Ilmaan namaa gara biyye'ee deebitta;
ati, «Ee ilmaan namaa,
gara biyye'ee deebi'a'a» jetta.
- ⁴ Woggaan kum tokko,
si'iif akkuma guyyaa kalee dabaree ti;
yookiin akkuma yennaa diqqoo halkan keessaa ti.
- ⁵ Ati namoota haxoottee dabarsita;
isaan akka oojju'uu ti;
isaan akka marra ganama quunxuu ti.
- ⁶ Marri ganama quunxee bisila;
galgala qooree goga.
- ⁷ Nuuti aarii teetiin banneerra;
mufii teetiin bararandheerra.
- ⁸ Ati yakkaa teenna ifi dura,
cubbuu teenna ta dhossa'aa
ifa fuula keetii dura keetteerta.
- ⁹ Barri keenna marti
adoo nuuti mufii teeti jala jirruu dabaran;
bara jiruu teennaa aadaatuma fixanna.
- ¹⁰ Barri jiruu teennaa woggaa torbaatama,
yoo bacatelle woggaa saddeettama;
woggooti sunuu
dadhabbi'ii fi rakkinna nutti fidan;
Isaan dafanee waan dabaranuuf,
nuuti koolaan kaanee dabarra.
- ¹¹ Hunna aarii teetii eentu beeka?
Mufii teeti guddoo san eentu hubatuu dande'a?
- ¹² Qaroolee akka teenu,
barri jiruu teennaa
gabaabaa akka te'e akka beennu nu barsiisi.
- ¹³ Ee Mootii Waan Maraa, deebi'i!
Haga yoomii mufatta?
Tajaajiltoota teetiif gadhaa laafi.
- ¹⁴ Bara jiruu teennaa mara
akka gammannee ilillinu,
ganama ganama jaalala keeti
ka bara baraatiin nu quussi.
- ¹⁵ Akkuma bara baca nu rakkitte,
akkuma woggaa baca waan hantuu dhaggine,
amma nu gammachiisi!
- ¹⁶ Hujii teeti tajaajiltoota teetitti,
ulfinna keeti ijoollee isaaniititti mudhisi.
- ¹⁷ Goottaa Waaqa keenna,
ila dansa'aan nu ilaali;

hujii harka keennaalle nuu milkeessi;
ee, nuu milkeessi.

91

Eegunsa Waaqaa Jala Jiraachuu

- ¹ Nami gollaa Waaqa Ol Aana'aa jala le'u,
ka gaaddisa Waaqa Waan Mara Dande'uu jalatti foorfatu,
- ² Mootii Waan Maraatiin, «Ati addee ani itti baqadhu, kushee tiyya,
Waaqa kiyya ka ani itti addadhu» hin jedha.
- ³ Waaqi tiyyoo nami si'iif afee fi
dhukkuba hamaa jalaa si hin baasa.
- ⁴ Inni koola ifitiin si golla;
baala isaa jalatti baqatta;
addatamummaan isaa wonte'ee fi
kushee si'iif hin te'a.
- ⁵ Ati waan halkan nama sodaachisu,
daaya guyya'aan namatti darbatamu
- ⁶ yookiin dhukkuba hamaa halkaniin deemu,
yookiin balaa guyyaa wodhakkaa
nama balleessu hin sodaattu.
- ⁷ Kum tokko cinaa teetitti,
kum kudhan midda keetitti hin jigan;
ammoo si hin tuqanu.
- ⁸ Ati ammoo ila teeti gofaan ilaaltee,
adabamiisa worra hama'aa dhaggita.
- ⁹ Ati Mootii Waan Maraa addee itti baqattu,
Waaqa Ol Aanaa mana keeti waan godhatteef,
- ¹⁰ wonni hantuun sitti hin dhuttu;
balaan qe'ee teetitti hin dhikaatu.
- ¹¹ Sababille karaa ati ideentu maratti,
akka si eeganuuf,
inni ergantoota ifii si'iif hin ajaja.
- ¹² Miilli keeti dhaka'aan akka hin gufanne,
isaan harka ifitiin ol si hin kiphan.
- ¹³ Ati neenqaa fi dhudhuufaa irra hin ejjatta;
neenqa dardaraa fi buutii irra hin sirbita.
- ¹⁴ Mootiin Waan Maraa, «Inni waan na jaalatuuf,
ani diinota isaa jalaa isa hin baasa;
inni maqaa kiyya waan beekuuf,
ani isa hin eega.
- ¹⁵ Inni na hin waammata;
anille deebii isaaf hin kenna;
yennaa inni rakkatu isa woliin hin jiraadha;
ani isa hin baasa; ulfinnalle isaaf hin kenna.
- ¹⁶ Jiruu bara dheera'aatiin isa hin quussa;
ani fayyisaa isaa akka te'e
akka inni dhaggu hin godha» jedha.

92

Hujii Isaatiif Mootii Waan Maraa Leellisuu

Faaruu Guyyaa Sanbataa

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa, si leellisuun
Ee Waaqa Ol Aana'a,
maqaa keetiif faaruu leellisaa dhikeessuun dansa'a.
- ² Jaalala keeti ka bara baraa ganamaan,
addatamummaa teeti halkaniin lallabuun,
³ meya faaru'uu ka ribuu kudhan qabuu fi
yoyyoma kiraara guddichaatiin
si leellisuun dansa'a.
- ⁴ Ee Mootii Waan Maraa, hujii teetiin na gammachiitta;
ani hujii harka keetiititti gammadee faarfadha.
- ⁵ Ee Mootii Waan Maraa, hujiiin teeti attam attam guddo'o;
yaadi keeti attam attam gad fagaata!
- ⁶ Nami daalleen tana hin beeku;
gowwaalle tana hin hubatu.
- ⁷ Worri hamaan akka marraa latanulle,
worri waan hantuu huju marti daraaranulle,
isaan ijumaayyuu hin badan.
- ⁸ Ee Mootii Waan Maraa, ati ammoo
haga bara baraa ol aana'a.
- ⁹ Ee Mootii Waan Maraa, diinoti keeti,
dhugumaan diinoti keeti hin badan;
worri waan hantuu huju marti hin bittinnowan.
- ¹⁰ Ati akka gafarsaa na jabeessitee*,
zayiti'iin na muudde.
- ¹¹ Ilti tiyya injifatama diinota kiyyaa dhaggite;
gurri kiyyalle iyya nyaaphota kiyya hamoole'ee dhage'e.
- ¹² Nami balchaan akka muka meexxi'ii hin oshoba;
akka hindheensa Libaanonii hin banqaaqa.
- ¹³ Isaan akka muka mana Mootii Waan Maraa keessatti dhaabamanee,
badhinna mana Waaqa keennaatiin duraa keessatti
hin oshoban.
- ¹⁴ Isaan akka muka dullummaa keessa midhaan buusuu,
ka yenna mara bisille'ee
hin te'an.
- ¹⁵ Isaan, «Mootiin Waan Maraa sirri'i;
inni rassaa ani itti baqadhu;
isa keessa hammeenni hin jiru» jedhan.

93*Arnya Mootii Waan Maraa*

- ¹ Mootiin Waan Maraa mooti'i; inni arnya uffate;
arnya uffatee jabeennaan hidhate.
Biyyi lafaa jabaattee dhaabbatte;
isiin ijumaa hin tachootu.
- ² Barcumaan mootummaa'aa keeti
durii duriitii jalqabee dhaabbate;
ati bara durii duriitii jalqaddee jirta.

* **92:10** Akka gafarsaa na jabeessitee: Afaan Ibrootaatiin akka gaafa gafarsaa gaafa kiyya ol kaache jedha. Gaafi ammoo jabeenna isaa ilaala.

- ³ Ee Mootii Waan Maraa, lagi hedduun ol kakka'e;
shookkisiisa ifii ol qabate;
danbalii shookkisiisa ifille ol kaafate.
- ⁴ Shookkisiisa bisaan jabaa heddu'uu caalaa,
danbalii abbaaya'aa hunnaamettii caalaa,
Mootiin Waan Maraa ka ol-gubbaa jiru hunnaamessa.
- ⁵ Ee Mootii Waan Maraa, seerri keeti ka addatame;
manni keetille haga bara baraa woyyumma'aan ka miidhage.

94

Waaqa Balchootaaf Haluu Bayu

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa, ati Waaqa haluu bayu;
ee Waaqa haluu bayu,
ulfinna keeti mudhisi!
- ² Ee abbaa mura'aa ka lafa tanaa, ka'i!
Worra koorameeyi'iif waan isaaniif male kenni.
- ³ Ee Mootii Waan Maraa,
worri hamaan haga yoomii firinxiixan?
Isaan haga yoomii firinxiixan?
- ⁴ Isaan jechoota koora ifii gad naqan;
worri hantuu huju marti ifi jajiisaan guutamaneeran.
- ⁵ Ee Mootii Waan Maraa, isaan kolbaa teeti butuchan;
kolbaa teeti cunqursan.
- ⁶ Isaan haadhotii hiyyeessaatii fi
alagaa worra lafa teenna keessa le'u ijjeesan;
ijoollee haadhaa fi abbaa hin qanne qalan.
- ⁷ Isaan, «Mootiin Waan Maraa hin dhaggu;
Waaqi Yaaqoobii tana hin hubatu» jedhan.
- ⁸ Kolbaa keessaa worri daalleen hubadha'a;
isin worri gowwaan yoom qaroolee teetan?
- ⁹ Ka gurra dade ifii hin dhage'uu?
Ka ila dade ifii hin dhagguu?
- ¹⁰ Ka gosa biyya adda addaa gorsu hin adabuu?
Ka ilmaan namaa barsiisu,
inni beekkumsa dhabee ree?
- ¹¹ Mootiin Waan Maraa yaada namaa hin beeka;
yaadi namaa akka hafuura baafata tokkochaa
akka te'e inni hin beeka.
- ¹² Ee Mootii Waan Maraa, nami ati gorsitu,
ka ati seera keeti barsiittu,
attam attam ka gammade.
- ¹³ Worra hama'aaf boolli haga qotantutti,
ati guyyaa rakkinnaa irraa isa foorfachiitta.
- ¹⁴ Mootiin Waan Maraa kolbaa ifii hin gatu;
ijoollee ifii hin lakkisu.
- ¹⁵ Muraan deebitee haqa irratti hin hundootti;
worri qajeelaan marti haqa gula deeman.
- ¹⁶ Eentu ka'ee worra hamaa naaf ka'ee morma?
Eentu worra waan hantuu huju mormiisaaf,

- golii tiyya dhaabbata?
- 17 Mootiin Waan Maraa adoo na hin qarqaarre teetee,
silaa ani ariiti'in du'eera.
- 18 Yennaa ani, «Miilli kiyya mucucaate» jedhu,
ee Mootii Waan Maraa,
jaalalli keeti ka bara baraa na utuba*.
- 19 Yennaa yaaddoon gadhaa kiyyatti bacattu,
ati na jajjabeessitee lubbuu tiyya gammachiitta.
- 20 Worri seera sababeeffatee maltummaa huju,
sooreyyiin hamooleen
si woliin jaalota te'uu dande'anii ree?
- 21 Isaan jiruu worra balchoole'ee
irratti ka'iisaaf wol qabatan;
worra yakkaa hin qannetti du'a muran.
- 22 Mootiin Waan Maraa kiyya ammoo
kushee naaf te'eera;
Waaqi kiyya rassaa ani itti baqadhu.
- 23 Waaqi yakkaa isaaniitiif isaan hin adaba;
hammeenna isaaniitiifille isaan hin balleessa;
Mootiin Waan Maraa Waaqi keenna isaan hin balleessa.

95

Faaruu Leellisaa

- 1 Kowa'a, Mootii Waan Maraatiif,
ilillisaa faarfannaa!
Rassaa nu baasu iyyinee leellifannaa!
- 2 Galataan fuula isaa dura dhikaannuu ti;
faaru leellisaatiin ilinnuu ti.
- 3 Mootiin Waan Maraa Waaqa gudda'a;
waaqota mara irratti mooti'i.
- 4 Qileen lafa jalaa harka isaa keessa jirti;
qacceed gaaraalle tama isaa ti.
- 5 Inni waan isii dadeef,
abbaayaan ta isaa ti;
lafa godduulle harkuma isaatitti dade.
- 6 Kowa'a, gad jennee isa waaqonfannaa!
Mootii Waan Maraa
ka nu dade duratti jilbiiffannaa!
- 7 Inni Waaqa keenna waan te'eef,
nuuti kolbaa inni bobbaasu,
hoolota inni tissu.
- Adha qoonqoo isaa yoo dhageettane,
8 «Akkuma abbootiin teessan ta durii goomolee
Mariiba'aatii fi Maasa'aa keessatti goote,
isin mataa jabeeyyii hin te'ina'a.
- 9 Abbootiin teessan ta durii achitti,
waan ani isaanii godhe adoo dhagganeeranu
haga na ilaalanee, na aarsane.
- 10 Ani dhaloota san woggaa afurtama diqadhee,

* 94:18 *Utuba: Yookiin kipha*

«Isaan worra karaa irraa goreeru;
karaa kiyyalle hin beenne» jedhe.

- ¹¹ Ani tanaaf aaree,
«Isaan ijjumaa biyya fooraa tiyyatti hin galanu» jedhee kakadhe» jedhe.

96

Waaqa Mooticha Ol Aanaa (1 Dab. 16:23-33)

- ¹ Faaru haareya Mootii Waan Maraatiif faarsa'a;
Kolbaan lafa irraa marti
Mootii Waan Maraatiif faaru faarsa'a.
- ² Mootii Waan Maraatiif faaru faarsa'a;
maqaa isaa leellisa'a.
Guyyuma guyya'aan fayyisiisa isaa lassa'a.
- ³ Gosa biyya adda addaatiif ulfinna isaa,
kolbaa maratti hujii isaa ta maade'ee lassa'a.
- ⁴ Mootiin Waan Maraa guddaa waan te'eef,
guddifamee leellifamuu male;
waaqota mara caalaa sodaatamuu male;
⁵ waaqoti gosa biyya adda addaa marti
waaqota dharaa ti;
Mootiin Waan Maraa ammoo ka ol-gubbaa dade.
- ⁶ Ulfinnii fi arnyi fuula isaa dura,
jabeennii fi dansummaan
addee woyyittii isaa keessa jiran.
- ⁷ Maatiin gosa biyya adda addaa
Mootii Waan Maraa leellisa'a;
ulfinnaa fi jabeenna Mootii Waan Maraa leellisa'a.
- ⁸ Ulfinna maqaa isaatiif te'u
Mootii Waan Maraatiif dhikeessa'a;
kennansa fida'aatii gara badhinna mana isaa kowa'a.
- ⁹ Dansummaa woyyummaa isaatiif
Mootii Waan Maraa waaqonfadha'a;
nami lafa irraa marti fuula isaa duratti holladha'a.
- ¹⁰ Gosa biyya adda addaa maraan,
«Mootiin Waan Maraa mooti'i!
Biyyi lafaa jabaattee dhaabanteerti;
isiin ijjumaa hin tachootu;
inni kolbaa maraaf wol qixxee mura» jedha'a.
- ¹¹ Ol-gubbaan gammadduu ti;
lattille firinxiixxuu ti;
abbaaya'aa fi wonni isii keessalle shookkittuu ti.
- ¹² Fichaa fi wonni isa keessaa marti gammadduu ti;
achiin duuba muki badda'aa marti ilillisaa hin faarsan.
- ¹³ Mootiin Waan Maraa waan dhufuuf,
fuula isaa duratti ilillisaa faarsan;
inni lafatti muriisaaf hin dhufa.
Biyya lafaatitti balchumma'aan,
kolbaa maratti dhuga'aan hin mura.

97

Waaqa Bulchaa Ol Aanaa

- ¹ Mootiin Waan Maraa mooti'i!
Latti gammadduu ti;
isin worri oddoola abbaaya'aa
keessa jirtanulle gammada'a.
- ² Duumensii fi dukkanti dimmi
isa marsaneeran;
balchumma'aa fi haqi
hundee mootummaa isaa ti.
- ³ Ibiddi dura isaa ideemaa,
diinota isa marsaneeranu mara guba.
- ⁴ Balaggeettiin isaa biyya lafaa issiti;
lattille dhaggitee rommiti.
- ⁵ Mootii Waan Maraa ka lafa duudi'ii duratti,
gaarri akka gaga'aa hin baqa.
- ⁶ Ol-gubbaan balchummaa isaa lassiti;
kolbaan martille ulfinna isaa dhaggiti.
- ⁷ Worri fakkii waaqonfatu,
ka waaqota dharaa gatii hin qanneen kooru marti
hin fukkifatan;
waaqoti marti isaaf jilbiiffatan.
- ⁸ Ee Mootii Waan Maraa, marroo muraa teetii
worri Xiyoonii dhage'anee hin gammadan;
kolbaan Yihuda'aalle hin ilillitti.
- ⁹ Ee Mootii Waan Maraa,
ati lafa mara irratti Ol Aana'a;
ati waaqota mara caalta.
- ¹⁰ Worri Mootii Waan Maraa jaalatu,
waan hantuu jibbuu ti;
inni lubbuu worra addatama'aa waan eeguuf,
harka worra hamaaleyyi'ii jalaa isaan hin baasa.
- ¹¹ Ifi worra balcha'aaf,
gammaddi worra qajeela'aaf baya.
- ¹² Isin balchooti Mootii Waan Maraatiin gammada'a;
maqaa isaa woyyicha leellisa'a.

98

*Abbaa Mura'aa Ka Biyya Lafaa Leellisa'a**Faaruu*

- ¹ Inni hujii maade'ee waan hujeeff,
faaru haareya Mootii Waan Maraatiif faarsa'a;
inni harka ifi middichaa fi
irree ifi woyyitti'iin injifateera.
- ² Mootiin Waan Maraa
fayyisiisa ifi akka beekkamu godheera;
balchummaa ifille
gosa biyya adda addaatitti mudhiseera.
- ³ Inni jaalala ifi ka bara baraatii fi
addatamummaa ifi
mana Israa'eliitiif yaadateera;

worri qaccee lafaa jiru marti
fayyisiisa Waaqa keennaa dhagganeeran.

- ⁴ Kolbaan lafa irraa marti
Mootii Waan Maraatiif ilillisa'a;
gammadaa fi faaru'uun isa leellisa'a.
- ⁵ Qoonqoo kiraara guddichaatiin
kiraaraa guddichaa fi faaru'uun
Mootii Waan Maraa leellisa'a.
- ⁶ Tultulla'aa fi tultullaa gaafa hoole'ee afuufaa,
Mootii Waan Maraa mooticha duratti ilillisa'a.
- ⁷ Abbaaya'aa fi wonni isii keessaa marti,
biyyi lafaatii fi wonni isii keessa le'u marti
shookkisanuu ti.
- ⁸ Lagooti harka dhowanuu ti;
gaaroti adduma tokko ilillisanuu ti.
- ⁹ Mootiin Waan Maraa
kolbaa lafaatitti muriisaaf waan dhufuuf,
isa duratti faarfatanuu ti.
Inni biyya lafaatitti balchumma'aan,
kolbaa maratti haqaan hin mura.

99

Waaqi Mootii Ol Aana'a

- ¹ Mootiin Waan Maraa mooti'i;
gosi biyya adda addaa hollattuu ti!
Inni barcumaa mootumma'aa irra
odduu dada ol-gubba'aa ta koola qaddu te'eera;
lattille tachootuu ti.
- ² Mootiin Waan Maraa Xiyoona keessatti gudda'a;
inni gosa biyya adda addaa irratti ol aana'a.
- ³ Maqaa keeti gudda'aa fi sodaatamaa leellisanuu ti.
Inni woyyu'u!
- ⁴ Ati mootichi hunnaamessa;
ati haqa jaalata;
waan sirrii te'e hundeessiteerta;
Israa'el keessatti haqaa fi balchummaa hujjeerta.
- ⁵ Mootii Waan Maraa Waaqa keenna saada'a;
miila isaa jalatti sagada'a!
Inni woyyu'u!
- ⁶ Hayyoota isaa keessaa gariin Muuse'ee fi Aaron;
worra maqaa isaa waame keessaa tokkochi Saamu'el;
isaan maqaa Mootii Waan Maraa waammatane;
innille isaaniif deebii kenne.
- ⁷ Inni utubaa duumensaa keessaa isaanitti dubbate;
isaanille qajeelfamaa fi
seerata inni isaaniif kenne eegatane.
- ⁸ Ee Mootii Waan Maraa Waaqa keenna,
ati deebii isaaniif kennite;
cubbuu isaaniitiif haluu isaan baatulle,
ati Waaqa araaraa isaaniif teeteerta.
- ⁹ Mootiin Waan Maraa

Waaqi keenna woyyuu waan te'eef,
isa saada'a;
gaara isaa woyyicha irratti isa waaqonfadha'a.

100

Leellisiisaaf Mootii Waan Maraa Waamuu

Faaruu Galataa

- ¹ Kolbaan lafa irraa marti,
Mootii Waan Maraatiif ilillisa'a.
- ² Mootii Waan Maraa gammadaan tajaajila'a;
gammadaan faarfataa fuula isaa dura dhikaadha'a.
- ³ Mootiin Waan Maraa akka Waaqa te'e beeka'a;
ka nu dade isa; nuutille ka isaa ti;
nuuti kolbaa isaa ti; hoolota inni tiffatu.
- ⁴ Galateeffataa gara karra isaa,
leellifataa gara badhinna mana isaa duraa seena'a;
isa galateeffataa, maqaa isaa leellisa'a.
- ⁵ Mootiin Waan Maraa dansaa waan te'eef,
jaalalli isaa ka bara baraa haga bara baraa,
addatamummaan isaalle dhalootaa haga dhalootaa ti.

101

Waadaa Mootichaa

Faaruu Daawitii.

- ¹ Ani marroo jaalala keeti ka bara baraatii fi
marroo muraa haqaa teetii hin faarfadha;
ee Mootii Waan Maraa
faaru leellisaa sii hin faarsa.
 - ² Ani jiruu komii hin qanne le'a.
Ati yoom gara kiyya dhutta?
- Ani mana kiyya keessa
komii malee ideema.
- ³ Ani waan hantuu ila tiyya dura hin keyadhu;
ani hujii worra Waaqa irraa goree hin jibba;
isiin natti hin maxxantu.
 - ⁴ Namooti yaada micciiramaa qabanu
na irraa fagaatanuu ti;
ani waan hantuu waliin tokkummaa hin qabu.
 - ⁵ Nama ollaa ifii dhossa'aan hamatu,
hin balleessa;
nama nama tuffatuu fi
nama kooruuf ani hin ossadhu.
 - ⁶ Akka isaan na waliin le'anuuf,
ilti tiyya gara worra addatamaa
lafa tana keessa jiranuu hin ilaalti.
- Nami karaa komii hin qanne ideemu
inni na hin tajaajila.
- ⁷ Nami nama sobu mana kiyya keessa hin le'u;

- nami dhara dubbatu na dura hin dhaabbatu.
⁸ Ani guyyuma guyya'aan
 worra hamaa lafa tana keessa jiranu hin balleessa;
 worra hantuu huju mara
 qachaa Mootii Waan Maraa keessaa hin balleessa.

102

Daadimata Nama Rakkoo Irra Jiruu

*Daadimata nama rakkate tokkoo, ka yennaa inni gaggabee iyyata ifii
 Mootii Waan Maraa dura Dhikeeffatu.*

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa,
 daadimata kiyya naaf dhage'i;
 iyyi tiyyalle gara keeti dhuttuu ti.
- ² Guyyaa rakkinna kiyyaa,
 fuula keeti na hin dhoffatin;
 gurra keeti gara kiyya deebifadhu;
 yennaa ani si waamu,
 ariifadhuu deebii naaf kenni.
- ³ Barri jiruu tiyyaa akka aaraa dabariisatti jira;
 lafeen tiyya akka barbada ibiddaa gubatiisatti jirti.
- ⁴ Gadhaan kiyya madowee akka marraa waan qooreef,
 sagalee nyaatiisa dadhabe.
- ⁵ Qoonqoo ol qabadhee waan aaduuf,
 lafeen tiyya gogaa kiyyatti maxxante.
- ⁶ Ani akka hummoo goomolee keessaa,
 akka urunguu waan diigame oddu'uu te'e.
- ⁷ Hirriiba malee irkadhee bula;
 ani akka sinbirree qofi-galeettii
 guutuu manaa irra jirtuu ti.
- ⁸ Guyyaa mara diinoti kiyya natti murgan;
 worri natti cooru
 maqaa kiyya maqaa abaarsaa godhatan.
- ⁹ Ani daadhaa akka sagale'ee nyaadhe;
 imimmaan waan unu woliin wolitti makadhe.
- ¹⁰ Mufii teeti guddoo irraa ta kaate,
 ati ol na fuutee gad na gatte.
- ¹¹ Barri jiruu tiyyaa akka gaaddisa galgalaa dabara;
 ani akka marraa qoora.
- ¹² Ee Mootii Waan Maraa,
 ati haga bara baraa
 barcumaa mootumma'aa keeti irra teetta;
 maqaan keeti dhalootaa haga dhalootaatitti hin jiraata.
- ¹³ Yennaan ati isi'iif gadhaa laattu amma waan dhutteef,
 ati hin kaata;
 Xiyoona hin mararta;
 yennaan murtootte dhutteerti.
- ¹⁴ Tajaajiltooti teeti dhakoota isi'iituu hin jaalatan;
 bututaa isi'ii ka diigameefuu gadhaa laafan.

- 15 Gosi biyya adda addaa maqaa Mootii Waan Maraa,
moototi lafaa marti ulfinna isaa hin sodaatan.
- 16 Mootiin Waan Maraa Xiyoona deebisee hin ijaara;
inni ulfinna ifitiin hin mudhata.
- 17 Inni daadimata worra deegaa hin dhage'a;
gaaffii isaaniille hin tuffatu.
- 18 Kolbaan amma hin dhalatin
akka Mootii Waan Maraa leellittu,
wonni kun dhaloota dhufuuf barreeffantuu ti.
- 19 Mootiin Waan Maraa
addee woyyittii gubba'aa irraa gad ilaale;
ol-gubbaa tee'ee lafa ilaale.
- 20 Inni aadiisa worra hidhameeruu dhage'e;
worra duuti itti murante bilisa baase.
- 21 Tanaaf maqaan Mootii Waan Maraa Xiyoona keessatti,
leellifamiisi isaa Yerusaleem keessatti laffama.
- 22 Tunille yennaa gosi biyya adda addaattii fi
mootummooti
Mootii Waan Maraa waaqonfatiisaaf wolitti qabamanu teeti.
- 23 Adoo ani dargaggeessaatuu
inni jabeenna kiyya casseera;
bara jiruu tiyyalle gabaasseera.
- 24 Maarre ani, «Ee Waaqa,
ka barri keeti dhalootaa gara dhalootaatitti dabaru,
wodhakkaa bara jiruu tiyyaatitti
na hin fudhatin» jedhe.
- 25 Dur ati lafa dadde;
ol-gubbaalle hujii harka keetii ti.
- 26 Isaan hin badan; ati ammoo hin leeta;
isaan akka woya'aa hin dullooman;
ati akka uffanaa isaan hin jijjiirta;
isaanille hin gataman.
- 27 Ati ammoo yennaa mara sanuma;
barri keetiille dhuma hin qabu.
- 28 Ijoolleen tajaajiltoota teetii nageyaan hin le'an;
sanyiin isaaniille fuula keeti dura jabaatanee hin le'an.

103

Jaalala Waaqaa

Faaruu Daawitii.

- 1 Ee lubbuu tiyya Mootii Waan Maraa leellisi;
keessi kiyya duudiin maqaa isaa woyyicha leellisi.
- 2 Ee lubbuu tiyya Mootii Waan Maraa leellisi;
waan dansaa inni godhe mara hin dedhin.
- 3 Ka cubbuu teeti mara si'iif araaramu,
ka dhukkuba keeti mara fayyisu,
4 ka jiruu teeti awwaalamuu irraa wodu,
ka jaalala bara baraatii fi marartii sii kennu,
5 dargaggummaan teeti
akka risa'aa akka haareffantu,
ka jiruu teeti waan dansa'aan quussu isa.

- ⁶ Mootiin Waan Maraa worra cunqurfame maraaf,
 balchumma'aa fi haqaan huja.
⁷ Inni karaa ifii Muuse'etti,
 hujii ifii kolbaa Israa'eliititti beessise.
⁸ Mootiin Waan Maraa
 mararti'ii fi araaraan ka guutame,
 ka aari'iif hin ariifannee fi ka jaalala guddaa qabu.
⁹ Inni yennaa mara yakkaa teenna hin laakkowu;
 haga bara baraa aari'iin hin turu.
¹⁰ Inni akka cubbuu teennaatitti nu irratti hin huju;
 akka yakkaa teennaatitti gatii nu'uuf hin kaffalle.
¹¹ Akkuma ol-gubbaan lafa irraa ol fagaattu,
 worra isa sodaatuuf jaalalli isaa ka bara baraa
 akka malee gudda'a.
¹² Akkuma garri aduun baatu
 gara aduun seentu irraa fagaatu,
 inni cubbuu teenna nu irraa fageessa.
¹³ Akkuma abbaan ijoollee ifitiif gadhaa laafu,
 maarre Mootiin Waan Maraalle
 worra isa sodaatuuf gadhaa laafa.
¹⁴ Inni attam akka nuuti dadanne waan beekuuf,
 biyyee akka teene hin qaabata.
¹⁵ Barri jiruu namaa akkuma marraa ti;
 akkuma daraaraa badda'aa hin daraara.
¹⁶ Yennaa qilleensi dhowu daraaraan hin bada;
 addeen isaalle deebi'ee hin beekkamu.
¹⁷ Jaalalli bara baraa
 ka Mootii Waan Maraa ammoo
 bara baraa haga bara baraatitti,
 worra isa sodaatu waliin hin jiraata;
 balchummaan isaalle
 ijoollee ijoollee isaa waliin hin jiraatti.
¹⁸ Kunille worra gondoaroo isaa eegatanuu fi
 worra ajaja isaa muummessiisaaf qaabatanuuf te'a.
¹⁹ Mootiin Waan Maraa
 barcumaa mootummaa ifii
 ol-gubbaa keessatti jabeessee dhaabbateera;
 mootummaan isaa waan mara bulchiti.
²⁰ Isin ergantooti Waaqaa,
 worri jajannooti jajjabooti
 ka jecha isaatiif ajajantanee
 waan inni jedhu gootanu
 Mootii Waan Maraa leellisa'a.
²¹ Isin loltooti ol-gubba'aa marti,
 tajaajiltooti isaa
 worri fedhii isaa muummessitanu
 Mootii Waan Maraa leellisa'a.
²² Wonni inni dade marti,
 mootummaa isaa keessa
 addee jirtanu maratti
 Mootii Waan Maraa leellisa'a.
 Ee lubbuu tiyya Mootii Waan Maraa leellisi.

104

Leellisa Abbaa Dadaatiif Dhikaate

- ¹ Ee lubbuu tiyya, Mootii Waan Maraa leellisi.
Ee Mootii Waan Maraa Waaqa kiyya,
ati attam attam gudda'a!
Ulfinnaa fi arnya uffatteerta.
- ² Ati ifa akka wo'aa ifitti marattee;
ol-gubbaa akka dukaani'ii diriirsite.
- ³ Ati utubaa mana keetii
bisaan ol-gubba'aa irra dhaabbachiitte;
duumensa garreettaa fardaan harkifamu godhatte;
koola qilleensaa irra teettee gulutte.
- ⁴ Ati qilleensa ergamaa keeti,
bobe'a ibiddaa tajaajilaa keeti godhatte.
- ⁵ Akka isiin ijjumaa hin raafanne,
ati lafa hundee isi'ii irratti dhaabbachiitte.
- ⁶ Abbaayaa akka wo'aa lafatti uffitte;
bisaan gaarota golle.
- ⁷ Yennaa ati xixxe, bisaan baqate;
qoonqoo mandiisu'uu teeti yennaa dhage'e dheete.
- ⁸ Gaarota gubbaa dhangala'ee,
gad dhooqa keessa,
gara addee ati isaaf qopheessitee dhage.
- ⁹ Akka deebi'ee lafa hin golline,
meessaa inni dande'ee hin dabarre,
ati isaaf goote.
- ¹⁰ Ati maddi dhooqa keessa akka yaa'u goote;
isaan koobota wodhakkaa yaa'an.
- ¹¹ Bineensoti isaan unan;
harreen diidaalle untee dheebuu baati.
- ¹² Sinbirrooti bisaan san biratti mana ijaarratan;
isaan dameelee oddu'uu wocan.
- ¹³ Gubbaa irraa bokkeyaan gaarota bisaan obaatta;
lattille waan ati hujjeen guutanti.
- ¹⁴ Marri hori'iif akka latu,
namaafille sagalee waan te'uuf,
lafa irraa midhaan akka latu goota.
- ¹⁵ Woyniin gadhaa namaa akka gammachiittu,
zayitiin fuula namaa akka cululussitu,
sagaleen akka nama jabeessitu goota.
- ¹⁶ Mukooti Mootii Waan Maraa birbirsooti Libaanonii,
ka inni dhaabe bisaan guddaa dhaggatan.
- ¹⁷ Sinbirrooti isaan keessatti mana ijaarratan;
qonga'an birbirsaa irratti hin gala.
- ¹⁸ Gaaroti dhedheeraan ka godaa* ti;
holli rassa'aa lafa osoleen itti baqattu.

* **104:18** *Godaa:* Bineensa re'ee fakkaatu ka gaara irra le'u.

- 19 Ji'a yennaa akka gargar baasuuf dadde;
aduulle yennaa seensuma ifii hin beetti.
- 20 Ati dukkana dadde; isiin halkan teeti;
yennaa san bineensoti badda'aa luuxanee bayan.
- 21 Neenqoti dardarooti adamo'oof dhangaa dhowan;
sagalee ifii Waaqa irraa barbaadatan.
- 22 Yennaa aduun baatu,
deebi'anee mandhee ifii keessa ciisan.
- 23 Achiin duuba nami gara hujii ifii bayee,
haga galgalaatitti hujii ifii huja.
- 24 Ee Mootii Waan Maraa,
hujiin teeti attam attam baca'a!
Ati isaan mara qarumma'aan daddeerta;
latti waan ati daddeen guutanteerti.
- 25 Kunoo, abbaayaan guddittiin guddo'oo fi badhoon achi jirti;
bineensi didiqqa'aa fi gugurdaan,
wonni lubbuu qabu bindillaan achi keessa jiran.
- 26 Abbaayaa san irra hobolooti gugurdoon hin ideeman;
bineensi naacha fakkaatu,
ka «Lewaataan» jedhamu achi keessa taphata.
- 27 Sagalee yenna'aan akka isaaniif kennitu,
isaan kun marti si eeggatan.
- 28 Yennaa ati isaaniif kennitu,
isaan wolitti qabatan;
yennaa ati harka keeti isaaniif diriirsitu,
isaan waan dansaa hin quufan.
- 29 Yennaa ati isaan irraa garagaltu,
isaan guddoo sodaatan;
yennaa ati hafuura isaanii isaan keessaa fudhatu,
isaan hin du'an;
gara biyye'ee hin deebi'an.
- 30 Yennaa ati hafuura keeti itti baafatu,
isaan hin dadaman;
ati lafa deebittee haareya goota.
- 31 Ulfinni Mootii Waan Maraa
haga bara baraa jiraatuu ti;
Mootiin Waan Maraa hujii ifitiin gammaduu ti.
- 32 Inni ilaalchaan ka lafa rommisiisu;
tuqiisaan gaara keessaa ka aara baasu.
- 33 Ani bara jiruu tiyyaa mara
Mootii Waan Maraatiif hin faarsa;
ani haga jiru mara
Waaqa kiyya faaru'uun hin leellisa.
- 34 Yaadi gadhaa kiyyaa isa gammachiisuu ti;
ani Mootii Waan Maraatiin hin gammada.
- 35 Cubbaaleyyiin lafa irraa badanuu ti;
hamaaleyyiin hagamaa achi hin jiraatin.

Ee lubbuu tiyya Mootii Waan Maraa leellisi;
Mootii Waan Maraa leellisa'a.

105

Baasa Waaqi Kolbaa Israa'eliitiif Godhe (1 Dab. 16:8-22)

- ¹ Mootii Waan Maraa galateeffadha'a;
maqaa isaa waammadha'a;
waan inni huje
gosa biyya adda addaa oddu'utti beessisa'a.
- ² Isa faarfadha'a; faaru'uun isa leellisa'a.
Waan bilbaasa inni huje mara odeessa'a.
- ³ Maqaa isaa woyyichaan ifi jaja'a;
gadhaan worra Mootii Waan Maraa barbaaduu
gammadee firinxiixuu ti.
- ⁴ Mootii Waan Maraatiif fi jabeenna isaa barbaada'a;
yennaa mara fuula isaa barbaada'a.
- ⁵ Hujii baasaa ta inni huje,
bilbaasota, muraa inni kennelle qaabadha'a;
- ⁶ Isin ijoolleen Abrahaamii tajaajilaa isaa,
isin ilmaan Yaaqoobii worri isaaf filatantane
tana qaabadha'a.
- ⁷ Inni Mootii Waan Maraa Waaqa keenna;
inni biyya lafaa duudi'itti mura.
- ⁸ Inni gondoorroo ifii haga bara baraa,
jecha ifii ka ajaje
haga dhaloota kumaatitti hin dedhu.
- ⁹ Inni gondoorroo Abrahaam woliin gondoore,
kakuu Yisihaqiif kakate hin dedhu.
- ¹⁰ Tun Yaaqoobiif Seerata,
Israa'eliif gondoorroo bara baraa akka teetuuf jabeessee,
- ¹¹ Mootiin Waan Maraa, «Qooda ati dhaaltu akka teetu,
ani lafa Kana'aanii si'iif hin kenna» jedhe.
- ¹² Yennaa san laakkossi kolbaa Waaqaa hin bacanne;
isaan laakkossaan worra diqqaa, biyya ormaatitti galee,
¹³ gosa biyya tokkoo irraa gara gosa biyya tokkoo,
mootummaa tokko irraa
gara kolbaa dhibi'ii asii fi achi worra daaqaa ture.
- ¹⁴ Mootiin Waan Maraa ammoo
nami tokkolle akka isaan cunqursu hin goone;
inni isaaniif jedhee mootota xixee,
- ¹⁵ «Worra ani muudadhe hin tuqina'a;
raagota tiyya hin miidhina'a» jedhe.
- ¹⁶ Mootiin Waan Maraa lafa irratti beela buuse;
sagalee isaanii mara balleesse.
- ¹⁷ Ammoo inni namicha tokko
ka garbicha te'ee gurgurame,
Yoseef isaaniin dura erge.
- ¹⁸ Isaan wodaroo sibiilaa miila isaatitti keyanee,
wodaroo sibiilaatiin hidhane.
- ¹⁹ Wonni Yoseef dursee dubbate haga muummottutti,
jechi Mootii Waan Maraa haga isa ilaale.
- ²⁰ Mootichi biyya Gibxi'ii

- ka gosa biyya adda addaa bulchu,
 nama ergee isa hiikisiisee, bilisa isa baase.
- 21 Inni mana ifii irratti gootaa,
 qabeenna ifii mara irratti bulchaa isa godhate.
- 22 Qondaaltota mootichaa akka fedhe akka gorsu,
 gorsitoota mootichaalle
 qarummaa akka barsiisu godhe.
- 23 Achiin duuba Israa'el gara biyya Gibxi'ii dhaqee,
 maatiin Yaaqoobii biyya Kaamiititti alagaa teete.
- 24 Mootiin Waan Maraa kolbaa ifii baceessee,
 diinota isaanii caalaa isaan jabeesse.
- 25 Worri Gibxi'ii akka kolbaa isaa jibbitu,
 tajaajiltoota isaatitti mala akka dhoottu godhe.
- 26 Achiin duuba inni tajaajilaa ifii Muuse'ee fi
 Aaronii ifii filate erge.
- 27 Isaan beessisa bilbaasa isaa worra Gibxi'ii oddu'utti,
 waan maade'ee lafa kaamii keessatti hujane.
- 28 Mootiin Waan Maraa
 dukkana ergee lafa dukkaneesse;
 worri Gibxi'ii ammoo waan inni jedhe mormane.
- 29 Inni bisaan isaanii gara dhiigaa jijjiiree,
 qurxummii isaaniille akka du'anuu godhe.
- 30 Biyya isaanii,
 kolloon moototaalle adoo hin hafin
 raachi keessa guute.
- 31 Mootiin Waan Maraa dubbannaan
 faachii fi bookeen
 biyya isaanii duudii keessa dhufane.
- 32 Bokkeya isaanii bokkeya dhaka'aa godhee,
 lafa isaanii maratti mandiisuu buuse.
- 33 Woyyii isaaniitii fi harruu isaanii balleessee,
 muka lafa isaanii butuche.
- 34 Inni dubbannaan awwaannisi,
 korophiis laakkowanee hin dandeenne dhufane.
- 35 Isaan waan bisilee lafa isaanii keessaa mara,
 midhaan lafa isaaniille nyaatane.
- 36 Mootiin Waan Maraa
 biyya Gibxi'ii keessaa
 angafa te'ee ka dhalate mara,
 ilma isaanii angaficha mara ijjee.
- 37 Achiin duuba inni
 Israa'elooti meeti'ii fi worqii
 fudhatanee akka bayanu godhe;
 gosa isaanii keessaa
 tokkolle nami duubatti hafe hin jiru.
- 38 Worri Gibxi'ii guddoo waan isaan sodaataneeff,
 yenna Israa'elooti bayanu gammadane.
- 39 Mootiin Waan Maraa
 akka golla'aa duumensa diriirsee,
 halkan ifa akka isaanii kennu
 ibidda isaaniif qopheesse.
- 40 Isaan gaafannaan inni barbadi-kille isaaniif fide;

- ol-gubbaa irraa sagalee isaanii kennee isaan quusse.
⁴¹ Inni rassaa dhoosee, bisaan keessaa lola'ee,
 akka lagaa goomolee keessa yaa'e.
⁴² Inni addii ifii woyyittii,
 tajaajilaa ifii Abrahaamiif kenne qaabate.
⁴³ Inni kolbaa ifii gammadaan,
 worra isaaf filame ililleetti'in akka bayanu godhe.
⁴⁴ Inni lafa gosa biyya adda addaa isaaniif kenne;
 maarre isaan lafa worri dhibiin itti elowe fudhatane.
⁴⁵ Tunille akka isaan seerata isaatii fi
 seera isaa eegatanuuf teete.

Mootii Waan Maraa leellisa'a.

106

Arjummaa Mootiin Waan Maraa Kolbaa Ifititti Mudhise

- ¹ Mootii Waan Maraa leellisa'a!
 Inni dansaa waan te'eef,
 haga bara baraa kolbaa waan jaalatuuf,
 Mootii Waan Maraa galateessa'a!
² Hujii gugurdoo Mootii Waan Maraa
 eentu lallabee dande'a?
 Yookiin leellisa isaa mara
 eentu lassee dande'a?
³ Worri haqa eegu,
 worri yenna mara balchumma'aan huju
 ka gammade.
⁴ Ee Mootii Waan Maraa,
 yenna kolbaa teetiif waan dansaa gootu
 na qaabadhu;
 yenna isaan baachu analle qarqaar.
⁵ Duroomiisa worra si'iif filamee akka dhaggu,
 gammadiisa kolbaa teetiitiin akka gammadu,
 kolbaa teeti woliin akka si leellisu na godhi.
⁶ Akkuma abbootii teenna
 nuutille cubbuu hunyeerra;
 balleessineerra; waan hantuulle gooneerra.
⁷ Abbootiin teenna yenna biyya Gibxi'ii jirtu,
 hujii teeti ta baasaa hin hubanne;
 gadhi-laafummaa teeti hin qaabanne;
 isaan abbaayaa diintuu biratti
 si irratti ka'ane.
⁸ Te'uu malee, Mootiin Waan Maraa
 hunna ifii jadduu mudhisiisaaf,
 maqaa ifitiif jedhee isaan baase.
⁹ Inni abbaayaa diintuu xixee,
 isiille godde;
 inni qilee keessa
 akka goomolee keessaa isaan sooresse.
¹⁰ Inni harka nyaapha isaanii keessaa isaan baasee,
 harka diinota isaanii keessaa isaan wode.
¹¹ Bisaan diinota isaanii irra garagale;

- isaan keessaa tokkolle hin hanne.
¹² Achiin duuba kolbaan jecha isaa dhugeeffatte;
 faaru leellisaa isaaf faarsane.
¹³ Te'uu malee, isaan yoosuma waan inni huje dedhane;
 gorsa isaalle hin eeganne.
¹⁴ Isaan gammoojjii keessatti sagalee dharra'ane;
 goomolee keessatti Waaqa haga ilaalane.
¹⁵ Inni waan isaan gaafatane isaaniif kenne;
 ammoo dhukkuba isaan golgoleessu itti fide.
¹⁶ Isaan addee quttumaa san keessatti Muuse'ee fi
 woyyicha Mootii Waan Maraa Aaron hinaafane.
¹⁷ Latti gargar baqaxxee Daataan liqinsitee,
 waa'eloota Abiiraamiille'etti cufante.
¹⁸ Worra isaan hordofu oddu'utti ibiddi gabbate;
 bobe'i ibidda sanii worra hamaaleyyii muxuqi godhe.
¹⁹ Isaan gaara Horeebiititti jabbii hujanee,
 waaqa dharaa san waaqonfatane.
²⁰ Isaan Waaqa ulfaataa ifii,
 fakkii horii marra dheeduutiin jijjiirane.
²¹ Isaan Waaqaa isaan baase,
 ka biyya Gibxi'ii keessatti waan gugurdoo huje,
²² hujii bilbaasaa ta inni biyya Kaamii keessatti huje,
 waan maade'ee
 ta inni abbaayaa diintuu biratti huje dedhane.
²³ Maarre Waaqi silaa isaan hin balleessa jedheeraayyu;
 Muuseen inni filate sun ammoo,
 mufii isaa ta isaan balleessitu isaan irraa deebisiisaaf,
 odduu seenee fuula isaa dura dhaabbate.
²⁴ Achiin duuba isaan lafa dansaa Kana'aanii san tuffatane,
 addii Waaqi isaaniif kenne hin dhugeeffanne.
²⁵ Isaan dunkaanii ifii keessatti gungumane;
 Mootii Waan Maraatiifille hin ajajanne.
²⁶ Tanaaf inni harka ol fudhatee,
 goomolee keessatti akka isaan du'anuu kakatee,
²⁷ sanyiin isaanii
 gosa biyya adda addaa oddu'utti akka duutu,
 lafa mara keessa isaan bittinneesse.
²⁸ Isaan waaqa, «Ba'aal Phe'or» jedhamu
 waaqonfatiisaan gabamanee,
 ciincaa waaqota lubbuu hin qanneef dhikaatelle nyaatane.
²⁹ Isaan hujii ifitiin
 Mootii Waan Maraa tuttuqanee aarsanee,
 odduu ifititti balaa buusane.
³⁰ Fiinehaas ammoo ka'ee worra yakkaa huje adabee,
 balaan sun dhaabbate.
³¹ Wonni inni tolche sun dhalootaa haga dhalootaatitti,
 yennaa mara akka balchumma'aatitti isaaf laakkowatante.
³² Bisaan Mariiba'aa biratti
 isaan Mootii Waan Maraa aarsane;

- sababa waan isaan hujaneetiif
Muuseen rakkate.
- 33 Isaan akka malee waan Muusee aarsaneeranuuf,
inni dubbii dubbii hin teene dubbate.
- 34 Akka Mootiin Waan Maraa isaan ajajetti,
isaan gosa biyya adda addaa hin balleessine.
- 35 Ammoo gosa biyya adda addaa woliin makamane,
aadaa isaanii baratane.
- 36 Isaan waaqota dharaa,
ka tiyyoo isaanitti te'e waaqonfatane.
- 37 Isaan ilmaan ifitii fi ijoollee durraa ta ifii
durriisotaaf ciincessane.
- 38 Isaan waaqota dharaa ka worra Kana'aaniitiif,
dhiiga ilmaan ifitii fi ijoollee durraa ta ifii,
ta yakkaa hin qanne dhangalaasane;
lattille dhiigaan battootte.
- 39 Akkasiin isaan hujii ifitiin battowanee,
akka gaarayyeeffattoota
Waaqaaf addatamummaa dhabane.
- 40 Tanaaf Mootiin Waan Maraa
kolbaa ifititti aaree boobe'ee,
isaan diqate.
- 41 Inni harka gosa biyya adda addaatitti
dabarsee isaan kennee,
diinoti isaanii bulchitoota isaanii te'ane.
- 42 Diinoti isaanii isaan cunqursanee,
isaan baallii isaanii jala galane.
- 43 Inni yennaa hedduu isaan baase;
isaan ammoo finqiliisatti jabaatane,
yakkaa ifitiin salphatane.
- 44 Te'uu malee, yennaa iyya isaanii dhage'e,
inni rakkinna isaanii ilaale.
- 45 Isaaniif jedhee inni gondoorroo ifii qaabate;
sababa jaalala guddaa ifitiif
isaaniif naye.
- 46 Worri isaan booji'e marti,
akka isaaniif nayanu godhe.
- 47 Nuuti maqaa keeti wooyyicha akka galateeffannuuf,
si leellisiisaan akka ulfinna sii kenninuuf,
ee Mootii Waan Maraa Waaqa keenna,
ati nu baasi;
gosa biyya adda addaa keessaa wolitti nu qabi.
- 48 Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii
bara baraa haga bara baraa leellifamuu ti;
kolbaan marti «Ameen» jettuu ti.
Mootii Waan Maraa leellisa'a.

Kitaaba Shaneesso'oo

107

(Far. 107–150)

Rakkoo Hedduu Keessaa Waan Baaseef Galata Waaqaaf Dhikaatu

- 1 Mootiin Waan Maraa dansaa waan te'eef,
inni haga bara baraa kolbaa waan jaalatuuf,
isa galateeffadha'a.
- 2 Worri Mootiin Waan Maraa wode,
ka inni harka diinaa jalaa wode,
3 ka inni lafa
karaa aduun baatuu fi seentu irraa,
kaabaa fi kibba irraa wolitti qabe,
isa galateeffadha'a.
- 4 Worri gariin goomolee duwwaa
lafa womaa keessa hin jirre keessa daaqane;
karaa gara qachaa keessa qubatanu
isaan geessu irraa miliqane.
- 5 Isaan beelotaanee dheebotane;
addiille kutatane.
- 6 Achiin duuba isaan rakkinna ifii keessatti
gara Mootii Waan Maraa iyyane;
innille rakkinna guddaa isaanii jalaa isaan baase.
- 7 Inni gara qachaa isaan keessa qubatanuu,
karaa qajeelaa irra isaan sooresse.
- 8 Jaalala isaa ka bara baraatiif,
waan bilbaasaa ka inni ilmaan namaatiif godheef,
isaan Mootii Waan Maraa galateeffatanuu ti.
- 9 Inni worra dheebote dheebuu baasa;
worra beelotelle waan dansa'aan quussa.
- 10 Worri gariin dukkanaa fi dimma keessa,
wodaroo sibiilaatiin hidhamanee le'ane.
- 11 Sababille isaan jecha Waaqaa mormanee,
gorra Waaqa Ol Aana'aa tuffatane.
- 12 Maarre inni hujii dadhassiittu'uun gad isaan qabe;
isaan gad jigane; ka isaan qarqaarulle hin jiru.
- 13 Achiin duuba isaan rakkinna ifii keessatti
gara Mootii Waan Maraa iyyane;
innille rakkinna guddaa isaanii jalaa isaan baase.
- 14 Inni dukkanaa fi dimma keessaa isaan baasee,
wodaroo sibiilaa ta ittiin hidhamane kukkute.
- 15 Jaalala isaa ka bara baraatiif,
waan bilbaasaa ka inni ilmaan namaatii godheef,
isaan Mootii Waan Maraa galateeffatanuu ti.
- 16 Inni balbala sageettu'uu caccasse;
danqaraa sibiilaa adda lamatti qurxe.
- 17 Worri gariin karaa cubbu'uu waan deemaneeff
gowwoomanee, sababa yakkaa ifitiifille farrane.
- 18 Isaan sagalee mara diqatanee,
du'iisa geyane.
- 19 Achiin duuba isaan rakkinna ifii keessatti
gara Mootii Waan Maraa iyyane;
innille rakkinna guddaa isaanii jalaa isaan baase.
- 20 Inni jecha ifii ergee isaan fayyise;
du'iisa irraa isaan hambure.
- 21 Jaalala isaa ka bara baraatiif,
waan bilbaasaa ka inni ilmaan namaatii godheef,

- isaan Mootii Waan Maraa galateeffatanuu ti.
- 22 Ciincaa galataa dhikeessanuu ti;
faaru gammadaatiin hujii isaa odeessanuu ti.
- 23 Worri gariin hobolootaan
abbaayaa irra deemaa,
bisaan guddaa irra daldalatan.
- 24 Isaan waan Mootiin Waan Maraa godhu,
bilbaasa inni qilee abbaayaa gudditti'ii
keessatti huju dhaggane.
- 25 Inni ajajee,
hobonbolattii
danbalii abbaaya'aa ol fuutu kaase.
- 26 Isaan gara ol-gubba'aa ol ka'ane
gara qile'ee gad bu'ane;
rakkinna keessalle'etti addii kutatane.
- 27 Isaan akka nama machowee loollowanee tintimane;
waan godhanulle wollaalane.
- 28 Achiin duuba isaan rakkinna ifii keessatti
gara Mootii Waan Maraa iyyane;
innille rakkinna isaanii keessaa isaan baase.
- 29 Inni hobonbolattii sarmisiisee,
danbaliille cadhi godhe.
- 30 Isaan danbaliin waan cadhitteef gammadane,
innille gara buufata hoboloo gudditti'ii
ta isaan bira geyiisaaf fedhane isaan geesse.
- 31 Jaalala isaa ka bara baraatiif,
waan bilbaasaa ka inni ilmaan namaatii godheef,
isaan Mootii Waan Maraa galateeffatanuu ti.
- 32 Isaan wolde'a kolba'aa keessatti isa saadanuu ti;
yaa'ii maanguddo'oo keessalle'etti isa leellisanuu ti.
- 33 Inni laga gara goomole'ee,
madda bisaanii gara lafa godddu'uu jijjiire.
- 34 Sababa worra hamoolee isii irra le'uutiif,
lafa midhaan baachu,
akka lafa booque sooddaa ta midhaan hin baanyee godhe.
- 35 Inni goomolee gara baleessa bisaanii,
lafa godduulle gara madda bisaanii jijjiire.
- 36 Inni worri beelowaan akka achi qubatanu godhe;
isaanille qachaa keessa le'anuu ijaarratane.
- 37 Isaan ficha'atti midhaan facaafatane,
muka woyni'ii dhaabbatane;
midhaan bacaalle galfatane.
- 38 Waaqi isaan eebbisee,
isaan ijoollee baca horane;
horiin isaanille akka diqqaatu hin goone.
- 39 Yennaa isaan cunqurfamiisaan,
rakkatiisaa fi gaddiisaan gad qabamane,
laakkossi isaanii diqqaate.
- 40 Inni qondaaltotatti salphinna fidee,
goomolee daandii hin qanne keessa akka daaqqanu godhe.
- 41 Inni ammoo worra hiyyeeyyii farra keessaa baasee,

- maatii isaanii akka hoole'ee akka horanu godhe.
⁴² Worri qajeelaan waan kana dhagganee gammadan;
 worri hamaan ammoo afaan ifii qabatan.
⁴³ Worri qarooleen waan kana hubatanuu ti;
 jaalala bara baraa ka Mootii Waan Maraa qalbeeffatanuu ti.

108

Leellisaa fi Daadimata Qarqaarsa Dhaggatiisaaf Dhikaate

Faaruu. Faaruu Daawitii.

- ¹ Ee Waaqa, gadhaan kiyya hin mamu;
 ani gadhaa tokkochaan,
 meya faaru'uu ka adda addaatiin hin faarfadha!
² Ee kiraara guddicha, ee maseenqo'o dammaqa'a!
 Anille boruu hin dayyaasa.
³ Ee Mootii Waan Maraa,
 ani gosa biyya adda addaa oddu'utti si galateeffadha.
 Ani gosa biyya adda addaa oddu'utti faaru'uun si leellisaa.
⁴ Jaalalli keeti ka bara baraa guddaa waan te'eef,
 akka ol-gubba'aa ol fagaata;
 addatamummaan teeti duumensa dhaqqaddi.
⁵ Ee Waaqa, ol-gubba'aan gubba'atti saadami;
 ulfinni keeti lafa duudii irratti te'uu ti.
⁶ Kolbaan ati jaalatu akka baatu,
 hunna teetiin nu baasi;
 daadimata keennaafille deebii kenni.
⁷ Waaqi addee woyyittii ifii keessaa, «Ani injifadhee,
 lafa, «Sheekem» jedhantu hin hira;
 dhooqa Suukootii kolbaa tiyyaaf hin qooda.
⁸ Latti Giil'aadii tiyya; latti Minaase'eelle tiyya;
 Efreem gullee tiyya ta sibiilaa ti;
 Yihudaan ulee tiyya ta bokku'uu ti.
⁹ Mo'aab gabataa kiyya ka itti dhiqataa ti;
 Edoom kiyya akka te'e mirkaneessiisaaf,
 kophee tiyya irratti hin qolaansa;
 Filisxeemota irratti injifanno'oon ilillisa» jedheera.
¹⁰ Gara qachaa guddicha dalleya
 dhaka'aatiin marfamee eentu na fida ree?
 Akka loluuf gara Edoomii eentu na geessa ree?
¹¹ Ee Waaqa, ati nu gatteerta;
 loltoota teenna woliin bayiisa lakkitteerta.
¹² Qarqaarsi namaa womaa waan nu'uuf hin baneef,
 diinota keenna akka loluuf,
 ati nu qarqaar.
¹³ Qarqaarsa Waaqaatiin hin injifanna;
 inni diinota keenna hin salphisa.

109

Iyyata Nama Rakkoo Irra Jiruu

Faaruu Daawitii, soorressa faarfattootaatiif.

- 1 Ee Waaqa, ka ani leellifadhu,
hin cadhisin.
- 2 Worri hamaaleyyi'ii fi dharaameyyiin
dharaan afaan natti banatan;
arraba dharaatiin natti dubbatan.
- 3 Isaan na marsanee jecha jibbaa dubbatan;
sababa malee na lolan.
- 4 Ani isaan jaaladhulle, isaan na lolan;
ani ammoo isaaniif hin daadimadha.
- 5 Waan dansaa ani godheef,
isaan waan hantuu naaf deebisan;
ani isaan jaaladha;
isaan ammoo na jibban.
- 6 Abbaa mura'aa hamaa diina kiyya irratti kaasi;
nami isa himatu midda isaa dhaabbatuu ti.
- 7 Kora mura'aa duratti yakkaamessa te'ee dhaggamuu ti;
daadimati isaalle akka cubbu'uu isatti laakkowantuu ti.
- 8 Barri jiruu isaa gabaabbatuu ti;
nami dhibiin soressummaa isaa fudhatuu ti.
- 9 Ijoolleen isaa ka abbaa hin qanne teetuu ti;
niitiin isaalle haadha hiyyeessaa teetuu ti.
- 10 Ijoolleen isaa daaqaa kadhattuu ti;
mana diigamaa amma keessa le'anuu
keessaalle'ee ari'amanuu ti.
- 11 Qabeenna isaa mara
abbaan beenya'aa qabatuu ti;
waan inni itti elowee dhaggate
alagaan saamuu ti.
- 12 Nami isaaf nawu,
yookiin ijoollee isaa
ta abbaa hin qanne ka kunuunsu,
tokkolle hin jiraatin.
- 13 Sanyiin isaa dhumattuu ti;
maqaan isaanii dhaloota itti aanu keessaa
haxowamee baduu ti.
- 14 Mootiin Waan Maraa
yakkaa abbootii isaa ta durii qaabatuu ti;
cubbuun haadha isaalle
haxowantee hin balleeffanti.
- 15 Mootiin Waan Maraa
yennaa mara cubbuu isaanii qaabatuu ti;
isaan ijjumaa lafa irraa dedhamanuu ti.
- 16 Namichi hamaan worra hiyyeeyyii,
worra rakkata'aa fi
worra akka malee gaddeeru ari'ee ijjeese malee,
isaaniif hin mararre.
- 17 Inni abaaruu jaalate; abaarsi isatti dhufuu ti;
inni eebba hin jaalatu; eebbi isa irraa fagaatuu ti.
- 18 Inni abaarsa akka woya'aa uffate;
abaarsi akka bisaanii gara nafa isaa,
akka zayiti'ii gara lafee isaa seenuu ti.

- 19 Abaarsi akka woyaa inni facaafatuu*,
akka hiituu inni guyyaa mara hidhatuu isatti te'uu ti.
- 20 Kun martinuu gatii Mootii Waan Maraa biraa
worri na himatu,
ka hantuu tiyya dubbatu
dhaggatu teetuu ti.
- 21 Ee Gootaa Mootii Waan Maraa, ati ammoo
maqaa keetiif jedhii waan dansaa naa godhi;
jaalala keeti ka bara baraatiin, na baasi.
- 22 Ani hiyyeessa, rakkataalle waan te'eef,
gadhaan kiyya na madowe.
- 23 Ani akka gaaddisa galgalaa dabaraara;
akka awwaannisa muka irraa hargufanuu
hargufamiisatti jira.
- 24 Laamiisa irraa ka ka'e jilbi kiyya lelleqe;
nafi kiyya huqqatee googiraa te'e.
- 25 Diinota kiyyaaf murgoo te'e;
isaan yennaa na dhagganu mataa natti raasan.
- 26 Ee Mootii Waan Maraa Waaqa kiyya, na qarqaar;
jaalala keeti ka bara baraatiif jedhii na baasi.
- 27 Ee Mootii Waan Maraa,
wonni kun hujii harka keetii akka teete,
akka ati waan kana hujje
diinoti kiyya beekanuu ti.
- 28 Isaan na abaaran; ati ammoo na hin eebbitta;
isaan natti ka'an; ammoo hin salphatan;
ani tajaajilaan keeti ammoo hin gammada.
- 29 Diinoti kiyya salphinna akka woya'aa uffatanuu ti;
qaanii akka bullukko'oo facaafatanuu ti.
- 30 Afaan kiyyaan guddisee
Mootii Waan Maraa galateeffadha;
kolbaa hedduu duratti isa leellisa.
- 31 Sababille harka worra du'a isaanitti mure jalaa baasiisaaf,
inni midda worra rakkata'aa dhaabbatta.

110

Mooticha Mootiin Waan Maraa File

- 1 Mootiin Waan Maraa Gootaa* kiyyaan,
«Haga ani diinota keeti
ejjata miila keetii jala kewutti,
ati midda kiyya tee'i» jedhe.
- 2 Mootiin Waan Maraa
Xiyoon irraa ulee bokku'uu
ta jabeenna keetii si'iif hin erga;
atille diinota keeti irratti mootii te'i!
- 3 Guyyaa ati diinota keeti loltu,
kolbaan teeti fedhii ifitiin si woliin hin duulan;

* 109:19 Woyaa inni facaafatu: Lafa tokko tokkotti woyaa inni darbatu jedhan.
Gootaan kun Masihi.

* 110:1 Gootaa:

dargaggooti teetille akka fixeensa dayya'a boru'uu,
kooba woyyittii irratti gara keeti hin dhufan.

- ⁴ Mootiin Waan Maraa,
«Akkuma hayyummaa Malkiisedeqii,
ati hayyuu bara baraa ti» jedhee kakateera;
inni yaada ifii hin jijjiiratu.
- ⁵ Mootiin Waan Maraa midda keeti jira;
guyyaa mufii ifii mootota hin butucha.
- ⁶ Inni gosa biyya adda addaatitti hin mura;
reeffa isaan keessa hin guuta;
bulchitoota lafaa duudiille hin butucha.
- ⁷ Mootichi madda karaa cina'aa keessaa
bisaan hin una;
tanaaf inni mataa ifii ol hin qabata.

111

Leellisa Hujii Maade'ee Mootii Waan Maraatiif Dhikaate

- ¹ Mootii Waan Maraa Leellisa'a!

Kora worra qajeela'aatii fi wolde'a keessatti,
gadhaa tokkochaan
ani Mootii Waan Maraa hin saadadha!
- ² Wonni Mootiin Waan Maraa huje guddo'o;
worri hujii guddoo saniin gammadu marti
isii hubatiisa barbaada.
- ³ Wonni inni huje marti
ulfinnaa fi arnyaan guutanteerti;
balchummaan isaalle
haga bara baraa jabaattee dhaabbatti.
- ⁴ Mootiin Waan Maraa
hujii ifii akka qaabatantu godhe;
inni arja'a; mararaalle'e.
- ⁵ Inni worra isa sodaatuuf sagalee hin kenna;
haga bara baraa gondoorroo ifii hin qaabata.
- ⁶ Inni lafa gosa adda addaa isaanii kenniisaan,
hunna ifii kolbaa ifiititti mudhiseera.
- ⁷ Hujiiin harka isaa marti dhuga'aa fi haqa;
seerri isaa marti addatama'a.
- ⁸ Seerri isaa haga bara baraa jabaattee dhaabbatee,
addatamumma'aa fi balchumma'aan hujameera.
- ⁹ Inni kolbaa ifiitiif wodoo erge;
gondoorroo ifille haga bara baraa ajaje;
maqaa isaa woyyicha; ka sodaatamelle'e.
- ¹⁰ Qarummaan jalqabaa
Mootii Waan Maraa sodaatiisa;
worri ajaja isaa hordofu hubantii dansaa qaban;
kolbaan haga bara baraa
Mootii Waan Maraa saadatu'uu malte.

112

Gammada Nama Balcha'aa

- ¹ Mootiin Waan Maraa leellifamuu ti;
nami Mootii Waan Maraa sodaatu,
ka ajaja isaatiin guddoo gammadu
ka gammade.
- ² Sanyiin isaa lafa san keessatti
worra jabaa hin te'an;
dhalooti worra qajeela'aa hin eebbifanti.
- ³ Manni isaa taajurumma'aa fi
durumma'aan hin guutama;
balchummaan isaaniille
haga bara baraa hin jiraatti.
- ⁴ Nama arja'aa, nama marara'aa fi,
nama balcha'aafille,
dukkana keessalle'etti ifi isaaf hin baya.
- ⁵ Nama arjaa, liqaa namaaf kennu
wonni dansaan isaaf hin teeti.
- ⁶ Dhugumaan inni ijjumaa hin raafamu;
nami balchaan haga bara baraa hin qaabatama.
- ⁷ Inni oduu hantuu hin sodaatu;
Mootii Waan Maraattitti waan addatuuf,
gadhaan isaa hin mamu.
- ⁸ Gadhaan isaa ijjumaa hin raafamu; hin sodaatu;
dhuma irratti jinnana diinota ifii hin dhagga.
- ⁹ Inni arjumma'aan worra hiyyeeyyi'iif kenna;
balchummaan isaa haga bara baraa jiraatti.
Hunnaa fi ulfinnaan hin saadama.
- ¹⁰ Nami hamaan tana dhaggee hin aara;
inni ilkaan ifii qaree, hin bada;
halchaan isaalle ta bu'aa hin qanne teeti.

113

Waaqa Qarqaaraa Worra Hiyyeeyyi'ii

- ¹ Mootii Waan Maraa leellisa'a;
ee tajaajiltoota Mootii Waan Maraa,
Mootii Waan Maraa leellisa'a;
maqaa Mootii Waan Maraa leellisa'a.
- ² Ammaa jalqabee haga bara baraa,
maqaan Mootii Waan Maraa leellifamuu ti.
- ³ Baya adu'uutii jalqabee haga seensa adu'uutitti,
maqaan Mootii Waan Maraa leellifamuu ti.
- ⁴ Mootiin Waan Maraa
gosa biyya adda addaa mara irratti ol aanana'a;
ulfinni isaa ol-gubbaa caala.
- ⁵ Ka akka Mootii Waan Maraa Waaqa keennaa,
Ka barcumaa mootummaa gubba'aa irra tee'u,
⁶ ka ol-gubba'aa fi lafa gad ilaalu eennu?
- ⁷ Inni hiyyeeyyii bukuu keessaa kaasa;
worra rakkataalle

- tuulaa daadha'aa keessaa ol fuudha.
⁸ Inni gondaaltota woliin,
 gondaaltota kolbaa ifii woliin isaan teessisa.
⁹ Maseentittiin haadha ijoolle'ee teetee,
 gammadaan mana ifii keessa akka leetu hin godha;
 Mootii Waan Maraa leellisa'a.

114

Faaruu Yaadannoo Irra Dabaramaa

- ¹ Yennaa Israa'el, sanyiin Yaaqoobii,
 gosa afaan ormaa dubbattu,
 biyya Gibxi'ii keessaa baate,
² Yihudaan addee woyyittii Waaqaa,
 Israa'elille bulchiisa isaa jala teete.
³ Abbaayaan dhaggitee baqatte;
 lagi Yordaanosiille gara duubaa deebi'e.
⁴ Gaaroti akka korbeeyyii hoole'ee,
 koobotille akka ilmoolee hoole'ee burraaqane.
⁵ Ee abbaaya'a, ati maaf baqatte?
 Ee laga Yordaanosii, gara duubaa maaf deebite?
⁶ Ee gaarota, isin maaf akka korbeeyyii hoole'ee,
 ee koobota,
 isin maaf akka ilmoolee hoole'ee burraaxxane?
⁷ Ee lafa, Goottaa duratti,
 fuula Waaqa Yaaqoobii duratti holladhu!
⁸ Inni rassaa gara baleessaatitti,
 rassaa jabaa gara madda bisaaniititti hin deebisa.

115

Waaqa Tokkocha Dhuga'aa

- ¹ Nu'uufii moti, ee Mootii Waan Maraa,
 nu'uufii moti,
 sababa jaalalaa fi
 addatamummaa teetiitiif jedhii,
 maqaa keeti ulfeessi!
² Gosi biyya adda addaa,
 «Waaqi isaanii meet» maaf jedhan?
³ Waaqi keenaa ol-gubbaa jira;
 waan isa gammachiisu mara godha.
⁴ Waaqoti isaanii ka dharaa meeti'ii fi worqii,
 harka namaatiin hujante.
⁵ Isaan afaan qaban malee, hin dubbatanu;
 ila qaban malee, hin dhagganu.
⁶ Isaan gurra qaban malee, hin dhage'anu;
 funnaan qaban malee, foolee hin fuudhanu.
⁷ Isaan harka qaban malee,
 qaqqabuu hin dande'anu.
 Miila qaban malee, hin ideemanu;
 laagadaan isaaniille

- qoonqoo hin dhageessisu.
- ⁸ Worri isaan hujee fi
isaanitti dhugeeffatu martinuu,
akkuma isaanii hin te'an.
- ⁹ Ee kolbaa Israa'elii,
ka isin qarqaaruu fi isin eegu isa waan te'eef,
Mootii Waan Maraatiitti addadha'a!
- ¹⁰ Ee hayyoota, sanyii Aaronii,
inni qarqaaraa keessan;
wontee teessanille'e.
Mootii Waan Maraatiitti addadha'a!
- ¹¹ Isin worri Mootii Waan Maraa sodaattanu,
Mootii Waan Maraatiitti addadha'a!
Inni qarqaaraa keessan;
wontee teessanille'e.
- ¹² Mootiin Waan Maraa nu qaabata;
nu hin eebbisalle'e;
inni kolbaa Israa'elii hin eebbisa;
inni hayyoota sanyii Aaronii hin eebbisa.
- ¹³ Inni worra isa sodaatu,
diqqa'aa fi guddaa hin eebbisa.
- ¹⁴ Mootiin Waan Maraa
isinii fi ijoollee teessan
akka hortanu godhuu ti.
- ¹⁵ Mootiin Waan Maraa
ol-gubba'aa fi lafa ka dade
isin eebbisuu ti.
- ¹⁶ Ol-gubbaan ol-gubbootaa
ta Mootii Waan Maraa ti;
latti ammoo ilmaan namaatiif kennanteerti.
- ¹⁷ Worri du'eeru,
ka gara cadheessaa gad bu'eeru,
Mootii Waan Maraa leellisuu hin dande'u.
- ¹⁸ Nuuti worri jirru ammoo,
ammaa jalqannee haga bara baraa,
Mootii Waan Maraa hin leellifanna;
Mootii Waan Maraa leellisa'a.

116

Galata Nama Dhibamee Fayyee

- ¹ Mootiin Waan Maraa
qoonqoo tiyyaa fi iyyata kiyya waan dhage'eef,
ani isa jaaladha.
- ² Inni waan naa dhage'uuf,
ani bara jiruu tiyyaa mara isa waammadha.
- ³ Wodaroon du'aa natti maratte;
rakkoon farri addee worri du'e jiruu na qabatte;
farraa fi gaddaa keessa seene.
- ⁴ Achiin duuba ani, «Ee Mootii Waan Maraa,
ani si daadimadhaa na baasi» jedhee
maqaa Mootii Waan Maraa waammadhe.

- ⁵ Mootiin Waan Maraa arja'a; balchaalle'e;
Waaqi keenna marara'a.
- ⁶ Mootiin Waan Maraa
worra gad ifi qabu hin eega;
yennaa ani gad qabame, inni na qarqaare.
- ⁷ Mootiin Waan Maraa
waan dansaa waan si'iif godheef,
ee lubbuu tiyya, gara foora keetii deebi'i.
- ⁸ Ee Mootii Waan Maraa,
lubbuu tiyya du'a irraa,
ila tiyya imimmaan irraa,
miila kiyya gufatiisa irraa hamburte.
- ⁹ Maarre ani Mootii Waan Maraa dura,
lafa worra jiraata'aa keessa ideema.
- ¹⁰ Ani yennaa,
«Ani guddoo rakkadheera» jedheeyyuu,
dhugeeffannaa tiyya hin lakkinne.
- ¹¹ Ani yennaa sodaadhe,
«Nami addatamu tokkoolle hin jiru» jedhe.
- ¹² Waan dansaa inni naaf kenne maraaf,
ani Mootii Waan Maraatiif
maan deebisee dande'a?
- ¹³ Mootiin Waan Maraa waan na fayyiseef,
ani isa hin galateeffadha;
kennansa daadhii woyni'ii isaaf hin dhikeessa.
- ¹⁴ Fuula kolbaa isaa mara duratti,
ani waan waadaa gale
Mootii Waan Maraatiif hin muummessa.
- ¹⁵ Duuti worra woyyootaa,
Mootii Waan Maraa duratti ulfinna qaddi.
- ¹⁶ Ee Mootii Waan Maraa, ani tajaajilaa keeti;
ani tajaajilaa keeti, ilma garbittii teetii ti;
ati hidhaa tiyya keessaa na hiitteerta.
- ¹⁷ Ani ciincaa galataa si'iif hin dhikeessa;
gara keetille hin daadimadha.
- ¹⁸ Ani fuula kolbaa isaa mara duratti,
waan Mootii Waan Maraatiif waadaa gale
hin muummessa;
- ¹⁹ Tanalle badhinna Galma Mootii Waan Maraa duraa keessatti,
Yerusaalem wodhakka'atti hin godha.

Mootii Waan Maraa leellisa'a.

117

Leellisa Mootii Waan Maraatiif Dhikaate

- ¹ Gosi biyya adda addaa martinuu
Mootii Waan Maraa leellisa'a;
kolbaan martinuu isa saada'a.
- ² Jaalalli isaa ka bara baraa
ka inni nu'uuf qabu guddaa waan te'eef,
addatamummaan isaa haga bara baraa ti.

Mootii Waan Maraa leellisa'a.

118

Faaruu Injifanno'oo

- ¹ Inni dansaa waan te'eef,
jaalala isaa ka bara baraatiif
Mootii Waan Maraa galateessa'a.
- ² Kolbaan Israa'elii,
«Jaalalli isaa ka bara baraa ti» jettuu ti.
- ³ Sanyiin Aaronii,
«Jaalalli isaa ka bara baraa ti» jettuu ti.
- ⁴ Worri Mootii Waan Maraa sodaatu,
«Jaalalli isaa ka bara baraa ti» jedhuu ti.
- ⁵ Ani rakkinna kiyya keessatti
gara Mootii Waan Maraa iyye;
innille deebii naa kennee,
bilisa na baase.
- ⁶ Mootiin Waan Maraa
na waliin jira; ani hin sodaadhu;
nami maan na godhuu dande'a?
- ⁷ Mootiin Waan Maraa
na qarqaariisaaf na waliin jira;
ani jinnana diinota kiyyaa hin dhagga.
- ⁸ Namatti addatiisaa mannaa,
gara Mootii Waan Maraa baqatiisa woyya.
- ⁹ Qondaaltotatti addatiisaa mannaa,
gara Mootii Waan Maraa baqatiisa woyya.
- ¹⁰ Gosi biyya adda addaa marti na marsane;
ani ammoo maqaa Mootii Waan Maraatiin
isaan balleesse.
- ¹¹ Isaan gara maraan na marsane;
ani ammoo maqaa Mootii Waan Maraatiin
isaan balleesse.
- ¹² Isaan akka kinniisaa na marsane;
ammoo akka ibidda gore'ee dhaamane;
ani maqaa Mootii Waan Maraatiin
isaan balleesse.
- ¹³ Ani gara duubaa dhiibamee, jigiisa geye;
Mootiin Waan Maraa ammoo na qarqaare.
- ¹⁴ Mootiin Waan Maraa
jabeenna kiyyaa fi faaruu tiyya;
inni fayyinna kiyya te'eera.
- ¹⁵ Qoonqoon gammadaatii fi injifanno'oo,
dunkaanii worra balchootaa keessaa,
«Harki Mootii Waan Maraa middichi
hujii jadduu huje;
¹⁶ harki Mootii Waan Maraa middichi ol ka'e;
harki Mootii Waan Maraa middichi
hujii jadduu huje» jettu dhage'ante.
- ¹⁷ Ani hin le'a malee, hin du'u;

- waan Mootiin Waan Maraa hujelle
hin odeessa.
- 18 Mootiin Waan Maraa
jabeessee na adabeera;
ammoo du'aaf dabarsee na hin kennine.
- 19 Akka ani ol seenee
Mootii Waan Maraa galateeffadhuuf,
balbala balchumma'aa naaf bana'a.
- 20 Tun balbala Mootii Waan Maraa ti;
karaa balchooleen seenanu.
- 21 Ati waan naa dhageetteef,
fayyinna kiyyalle waan naaf teeteef
si galatteeffadha.
- 22 Dhakaan worri mana ijaaru tuffate,
dhakaa dhakaa mara caalaa barbaadamu te'e;
- 23 Tun hujii Mootii Waan Maraa ti;
isiin ila teennalle'etti waan baasaa ti.
- 24 Guyyaan Mootiin Waan Maraa tolche kana;
itti gammannee firinxiindhuu ti.
- 25 Ee Mootii Waan Maraa nu baasi;
ee Mootii Waan Maraa nu milkeessi.
- 26 Maqaa Mootii Waan Maraatiin
ka dhufu ka eebbifame;
nuuti Galma Waaqaa keessaa isin eebbinna.
- 27 Mootiin Waan Maraa Waaqa;
inni ifa nu'uuf isseera.
Dameelee bisilee qabannee, jila bobbaanee,
haga gaafota addee ciinca'aa dhandhuu ti.
- 28 Ati Waaqa kiyya; ani si galateeffadha;
ati Waaqa kiyya; ani si saadadha.
- 29 Inni dansaa waan te'eef,
jaalala isaa ka bara baraatiif
Mootii Waan Maraa galateessa'a.

119

Seera Mootii Waan Maraa

- 1 Worri karaan isaanii komii hin qanne,
ka seera Mootii Waan Maraatiin ideemanu
ka gammadane.
- 2 Worri ajaja isaa eegatu,
ka gadhaa tokkochaan isa barbaadu
ka gammade.
- 3 Isaan dokonkora hin hujanu;
karaa isaa ideeman.
- 4 Mootii Waan Maraa,
ajaji keeti guutumatti akka eegamu,
ati ajajjeerta.
- 5 Ani ajaja keeti eegatiisaan,

- jabaadhee adoo dhaabbadhee
attam attam halcha!
⁶ Ani ila tiyya ajaja keeti mara irraa
yoo hin buqqifatin,
ani hin qaanowu.
⁷ Muraa haqaa teeti yennaa baradhe,
ani gadhaa qajeela'aan si leellisa.
⁸ Ani ajaja keeti hin eegadha;
ati ijjumaa na hin lakkisin.

Seera Mootii Waan Maraatiif Ajajamuu

- ⁹ Dargaggooti attamiin karaa ifii
qulqullumma'aan eegatiisa dande'an?
Karaa ifii akka jecha keetiititti eegatiisaan.
¹⁰ Ani gadhaa tokkochaan si barbaada;
ajaja keeti irraa akka goru na hin lakkisin.
¹¹ Akka si hin yakkineef,
jecha keeti gadhaa kiyya keessatti dhoffadheera.
¹² Ee Mootii Waan Maraa, ati ka leellifante;
seera keeti na barsiisi.
¹³ Ani qajeelfama afaan keetii baye mara,
afaan kiyyaan hin lallaba.
¹⁴ Akkuma nami durummaa guddo'otti gammadu,
ani qajeelfama keeti hordofiisatti
hin gammada.
¹⁵ Ani ajaja keeti irra deddeebi'ee itti hin yaada;
karaa keeti irraa ila tiyya hin buqqifadhu.
¹⁶ Ani seera keetiin hin gammada;
ani jecha keeti hin dedhu.
¹⁷ Akka ani le'uuf,
jecha keetiifille akka ajajamu,
ana tajaajilaa keetiif waan dansaa godhi.
¹⁸ Waan maade'ee
ta seera keeti keessaa akka dhaggu,
ila tiyya bani.
¹⁹ Ani lafa irratti alaga'a;
ajaja keeti na hin dhossin.
²⁰ Lubbuun tiyya seera keeti halchiisaan,
yennaa mara akka malee dadhaddi.
²¹ Ati worra koorameeyyii abaarame,
ka ajaja keeti irraa gore,
hin xixxa.
²² Ani ajaja keeti waan eegadheef,
ati murgo'oo fi tuffii isaanii
na irraa fageessi.
²³ Qondaaltoti tee'anee
mala na irratti dhowanulle,
ani tajaajilaan keeti
seera keeti itti deddeebi'ee hin yaada.
²⁴ Ajaji keeti marti na gammachiisan;
isaan gorsitoota tiyya.

Seera Waaqaatiif Ajajamiisaaf Murteeffatuu

- 25 Ani du'iisa geyeera;
ati akka jecha keetiititti
lubbuu tiyya natti deebisi.
- 26 Ani waan jiruu tiyya keessatti te'e mara
sitti himadheera;
atile deebii naaf kenniteerta;
seera keeti mara na barsiisi.
- 27 Ajaja keeti na hubachiisi;
anille hujii teeti ta maade'ee
itti deddeebi'ee hin yaada.
- 28 Lubbuun tiyya gaddaan dadhaddeerti;
akka jecha keetiititti na jabeessi.
- 29 Karaa sobaa na irraa fageessi;
badhaadha keetiin seera keeti na barsiisi.
- 30 Ani karaa dhuga'aa filadheera;
seera keeti ifi dura keyadheera.
- 31 Ee Mootii Waan Maraa,
ani jaja keeti jabeessee qabadheera;
na hin qaanessin.
- 32 Ati waan bilisa na baatteef,
ani karaa ajaja keetii rukписа.

Daadimata Hubantii Dhaggatiisaaf Dhikaate

- 33 Ee Mootii Waan Maraa,
karaa seera keetii na barsiisi;
anille yennaa mara hin hordofa.
- 34 Seera keeti akka ani eegadhu,
gadhaa tokkochalle'een akka ani ajajamu,
hubantii naa kenni.
- 35 Ani waan ittiin gammaduuf,
daandii ajaja keetii irra akka deemu na godhi.
- 36 Bu'aa haqa hin te'in dhaggatiisa irraa,
gadhaa kiyya gara ajaja keetii deebisi.
- 37 Ila tiyya waan bu'aa hin qanne irraa deebisi;
karaa keeti irratti jiruu naa kenni.
- 38 Akka sodaatantuuf,
Waadaa ana tajaajilaa keetiif galte muummessi.
- 39 Seerri keeti dansaa waan te'eef,
qaanii ani sodaadhu na irraa fageessi.
- 40 Kunoo, ani ajaja keeti eegatiisaaf dharra'a;
balchummaa teetiin jiruu naa kenni.
- 41 Ee Mootii Waan Maraa,
jaalalli keeti ka bara baraa
gara kiyya dhufuu ti;
akka waadaa keetiititti
fayyisiis keetille gara kiyya dhufuu ti.
- 42 Achiin duuba ani
jecha keetitti waan addadhuuf,
worra na arrassuuf deebii hin kenna.
- 43 Ani seera keetitti addii waan godhadhuuf,
jecha dhuga'aa keeti dubatiisa
na hin dhooggin.
- 44 Ani yennaa mara,
haga bara baraa seera keeti hin eegadha.

- 45 Ani ajaja keeti muummessiisa
 waan barbaaduuf,
 bilisaan hin ideema.
- 46 Ani ajaja keeti mootota duratti
 hin dubbadha;
 hin qaaneffadhu.
- 47 Ani ajaja keeti hin jaaladha;
 ittille hin gammada.
- 48 Ani harka kiyya gara ajaja keeti
 ka jaaladhuu ol hin kaasa;
 seerata keetille itti deddeebi'ee hin yaada.
- 49 Jecha keeti
 ka akka ani addi'iin eegadhu goote,
 ana tajaajilaa keetiif qaabadhu.
- 50 Waadaan keeti
 jiruu waan naa kenneef,
 rakkinna kiyya keessatti
 jajjabeenni kiyya kana.
- 51 Worri koorameeyyiin
 yennaa mara natti murgan;
 ani ammoo seera keeti irraa hin deebine.
- 52 Ee Mootii Waan Maraa,
 ani seeraa keeti
 ka durii durii yennaa qabaadhu,
 ittiin hin jajjabaadha.
- 53 Worri hamaaleyyiin
 seera keeti waan lakkisaneef,
 aariin guddoon na qabatte.
- 54 Addee le'u maratti ajaji keeti faaruu tiyya.
- 55 Ee Mootii Waan Maraa,
 halkan keessa maqaa keeti qaabadha;
 seera keetille hin eegadha.
- 56 Ani ajaja keeti eegadhe;
 tunille hujii tiyya teete.

Seera Waaqaatiif Ajajamuu

- 57 Ee Mootii Waan Maraa,
 jiruu tiyya keessatti ati qooda kiyya;
 ani jecha keeti eegatiisaaf waadaa galeera.
- 58 Fudhatama dhaggatiisaaf,
 gadhaa tokkochaan si daadimadha;
 akkuma waadaa keetiititti naa marari.
- 59 Ani yennaa karaa keeti yaadadhu,
 miila kiyya gara ajaja keetii deebifadha.
- 60 Ani ajaja keeti muummessiisaaf,
 hin ariifadha; hin turu.
- 61 Worri hamaan wodaroo natti marulle,
 ani seera keeti hin dedhu.
- 62 Muraa teeti balchitti'iif,
 si galateeffatiisaaf,
 ani halkan wodhakkaa hin ka'a.
- 63 Ani worra si sodaatu maraaf,
 worra ajaja keeti eegatu maraaf jaala.

- 64 Ee Mootii Waan Maraa,
latti jaalala keeti
ka bara baraatiin guutanteerti;
seera keeti na barsiisi.
- 65 Ee Mootii Waan Maraa,
akkuma jecha keetiititti,
ati tajaajilaa keetiif waan dansaa gooteerta.
- 66 Ani ajaja keeti waan addadhuuf,
beekkumsaa fi hubantii dansaa na barsiisi.
- 67 Adoo hin rakkatin dura,
ani karaa keeti irraa goreera;
amma ammoo jecha keeti hin eegadha.
- 68 Ati dansa'a; wonni ati gootulle dansa'a;
seera keeti na barsiisi.
- 69 Worri koorameeyyiin
dharaan maqaa na balleessanulle,
ani ammoo gadhaa tokkochaan
ajaja keeti hin eegadha.
- 70 Isaan mataa jabaatan;
ani ammoo seera keetiin gammada.
- 71 Seera keeti akka baradhu,
rakkatiisi kiyya dansa'a.
- 72 Worqi'ii fi meetii kuma hedduu caalaa,
seera afaan keetii bayu naaf woyya.

Haqa Seera Waaqaa

- 73 Harki keeti na huje;
na mimmiidhasselle'e;
akka ani ajaja keeti baradhu,
qalbeeffata naaf kenni.
- 74 Ani jecha keetitti addii waan godhadheef,
worri si sodaatu yennaa na dhaggu
hin gammada.
- 75 Ee Mootii Waan Maraa,
muraan teeti dhugaa akka teete,
ani hin beeka;
ati addatamumma'aan na adadde.
- 76 Akkuma ana tajaajilaa keetiif waadaa galtetti,
jaalalli keeti ka bara baraa
na jajjabeessuu ti.
- 77 Seerri keeti waan na gammachiisuuf,
akka le'uuf,
marartiin teeti naaf dhuttuu ti.
- 78 Worri koorameeyyiin
dharaan waan na himatanuuf,
qaanowanuu ti.
Ani ammoo ajaja keeti itti deddeebi'ee yaada.
- 79 Worri si sodaatuu,
worri ajaja keeti beeku,
gara kiyya deebi'uu ti.
- 80 Akka ani hin qaanonneef,
gadhaan kiyya seera keetitti
komii hin qabaatin.
- 81 Lubbuun tiyya

- fayyisiisa keeti dharra'iisaan gaggaddi;
ani ammoo jecha keetitti addii godhadha.
- 82 Ilti tiyya dubbii teeti eegatiisaan dadhaddi;
ani, «Yoom na jajjabeessita?» jedhee gaafadha.
- 83 Ani akka qalqalluu daadhii woyni'ii
ka aara keessaa shuntuuradhulle,
seera keeti hin dedhu.
- 84 Ani tajaajilaan keeti haga yoomii le'inna laati?
Ati worra na miidhutti yoom murta?
- 85 Worri koorameeyyiin seera keetiif hin ajajanne,
boolla naaf qotane.
- 86 Ajaji keeti martinuu addatama'a;
namooti sababa malee waan na miidhanuuf,
ati na qarqaar.
- 87 Isaan diqquma lafa irraa
na hin balleessin hafane;
ani ammoo ajaja keeti hin lakkinne.
- 88 Akka ani ajaja keeti eegadhu,
jaalala keeti bara baraatiin,
jiruu naa kenni.
- 89 Ee Mootii Waan Maraa,
jecha keeti haga bara baraa,
ol-gubbaa keessatti jabaatee jiraata.
- 90 Addatamummaan teeti
dhalootaa irraa haga dhaloota maraatitti
hin jiraatti;
ati lafa daddeerta;
isiille jabaattee jiraatti.
- 91 Wonni martinuu tajaajiltoota teeti waan teeteef,
ajaja keetiin haga adhaa jabaattee jiraatti.
- 92 Seerri keeti adoo na hin gammachiinne teete,
rakkinna kiyyaan silaa ani badeeraayyu.
- 93 Ati seera keetiin jiruu waan naa kenniteef,
ani ijjumaa seera keeti hin dedhu.
- 94 Ani seera keeti waan barbaaduuf,
ani keeti; na hamburi.
- 95 Worri hamaaleyyiin na ijjeesiisaaf na gaadan;
ani ammoo ajaja keeti itti deddeebi'ee yaada.
- 96 Wonni dhidhinna hin qanne marti
meessaa akka qaddu dhaggeera;
ajaji keeti ammoo meessaa hin qabu.

Seera Waaqaa Jaalatiisa

- 97 Ani attam attam seera keeti jaaladha!
Ani guyyaa guutuu itti deddeebi'ee isa yaada.
- 98 Ajaji keeti yennaa mara na woliin waan jiruuf,
diinota kiyya caalaa qaroo na godha.
- 99 Ani seera keeti itti deddeebi'ee waan yaaduuf,
barsiisota tiyya mara caalaa qarummaa qaba.
- 100 Ani seera keeti waan muummessuuf,
maanguddoota caalaa hubantii qaba.
- 101 Ani jecha keeti eegatiisaaf,
miila kiyya karaa hamaa mara irraa eegadheera.

- 102 Ati waan na barsiitteef,
ani seera keeti irraa hin gorre.
- 103 Jechi keeti arraba kiyyatti attam attam mi'owa!
Afaan kiyya keessatti damma caalaa mi'owa.
- 104 Ani seera keeti irraa hubantii dhaggadheera;
tanaaf karaa dharaa mara hin jibba.
- 105 Jechi keeti miila kiyyaaf issa'a;
daandii tiyyaafille ifa.
- 106 Seera keeti balchicha hordofiisaaf,
kakadheera; ittille hin jabaadha.
- 107 Ani guddoo rakkadheera;
ee Mootii Waan Maraa, akka jecha keetiititti
jiruu naa kenni.
- 108 Ee Mootii Waan Maraa,
leellisa fedhii tiyyaan sii dhikeessu fudhadhu;
seera keetille na barsiisi.
- 109 Lubbuun tiyya yennaa mara balaa bira jirti;
ammoo ani seera keeti hin dedhu.
- 110 Worri hamaan tiyyoo naaf afe;
ani ammoo seera keeti irraa hin gorre.
- 111 Seerri keeti haga bara baraa
dhaala kiyya waan te'eef,
gammadi gadhaa kiyyaa isa.
- 112 Ani haga du'utti,
bara baraan seera keeti
muummessiisaaf murteeffadheera.
- 113 Ani worra yaada lamaa jibbe;
seera keeti ammoo jaaladhe.
- 114 Ati addee ani itti dhokadhu;
wontee tiyyalle'e.
Ani jecha keetitti addii godhadha.
- 115 Akka ani ajaja Waaqa kiyyaa eegadhu,
isin worri waan hantuu hujjanu
na irraa fagaadha'a.
- 116 Akka ani jiru'uun le'u,
akka jecha waadaa keetiititti na jabeessi;
addii tiyyaan ani hin qaanowin.
- 117 Akka ani bayu ati na qabi;
ani yennaa mara seera keetitti xiyyeeffadha.
- 118 Malli soba isaanii bu'aa waan hin qanneef,
ati worra seera keeti irraa goru mara
hin fugussita.
- 119 Worra hamaa lafa irraa mara
ati akka solloqqee sibiilaa hin gatta;
tanaaf, ani seera keeti hin jaaladha.
- 120 Foon kiyya si sodaatee hollate;
ani muraa teeti guddoo sodaadhe.
- 121 Ani waan dhuga'aatii fi haqaa hujeera;
ati worra na cunqursuuf na hin lakkisin.
- 122 Ani tajaajilaan keeti
waan dansaa akka dhaggadhu
wobii naa te'i;

- worri koorameeyyiin
akka na cunqursu hin lakkisin.
- 123 Fayyisiisa keetii fi waadaa keeti
balchaa san eegatiisaan,
ilti tiyya dadhadde.
- 124 Akka jaalala keeti ka bara baraatitti,
ana tajaajilaa keeti qabadhu;
seera keetille na barsiisi.
- 125 Ani tajaajilaa keeti;
akka ani seera keeti beeku,
hubantii naaf kenni.
- 126 Ee Mootii Waan Maraa,
kolbaan seera keeti waan cassiteef,
yennaan ati waan tokko hujju amma.
- 127 Ani worqii caalaa, worqii qullittii caalaa,
ajaja keeti jaaladha.
- 128 Tanaaf ajaji keeti martinuu,
dhugaa akka te'e hin fudhadha;
karaa dharaa mara jibba.

Halchaa Seera Mootii Waan Maraatiif Ajajamiisaa

- 129 Seerri keeti maade'e;
tanaaf lubbuun tiyya isaaf ajajanti.
- 130 Hiiki jecha keetii ifa kenna;
worra wollaala'aaf hubantii kenna.
- 131 Ani ajaja keeti waan halcheef,
afaan banee eegadha.
- 132 Akkuma worra maqaa keeti jaalatuuf gootu,
gara kiyya deebi'iitii,
naa marari.
- 133 Akka jecha keetiititti
ideensa kiyya sooressi;
cubbuun akka na mootu hin lakkisin.
- 134 Akka ani ajaja keeti eegadhu,
cunqursaa namaa jalaa na wodi.
- 135 Ana tajaajilaa keetitti fuula ifi;
seera keetille na barsiisi.
- 136 Seerri keeti waan hin eegaminiif,
imimmaan ila tiyya keessaa
akka bisaanii yaati.
- 137 Ee Mootii Waan Maraa,
ati balcha'a;
muraan teetille dhuga'a.
- 138 Ati balchumma'aa fi
addatamummaa guutu'uun,
seera keeti baacheerta.
- 139 Diinoti kiyya jecha keeti waan dedhaneef,
hinaaffaan tiyya na laalessite.
- 140 Jechi keeti guddoo qulqullicha;
ani tajaajilaan keetille isa jaaladha.
- 141 Ani nama diqqaa tuffatama'a;
te'ulle ajaja keeti hin deenne.
- 142 Balchummaan teeti
balchummaa haga bara baraa ti;

- seerri keetille dhuga'a.
- 143 Rakkinnii fi farri na dhaqqabeera;
ajaji keeti ammoo na gammachiisa.
- 144 Ajaji keeti haga bara baraa dhuga'a;
akka ani jiru'uun le'u hubantii naaf kenni.
- 145 Ee Mootii Waan Maraa,
ani gadhaa tokkochaan gara keeti iyya.
Ati deebii naaf kenni;
anille seera keeti hin eegadha.
- 146 Ani gara keeti iyya; na baasi;
anille seera keeti hin eegadha.
- 147 Ani adoo boruun hin dayya'in ka'ee,
qarqaarsa dhaggatiisaaf gara keeti iyya;
jecha keetitti addii godhadha.
- 148 Jecha keeti itti deddeebi'ee yaadiisaaf,
ani halkan guutuu ila wolitti hin qabanne.
- 149 Akka marartii teetiititti
qoonqoo tiyya dhage'i;
Ee Mootii Waan Maraa,
akka seera keetiititti
lubbuu tiyya hamburi.
- 150 Worri mala hamaa baafatanee
na miidhanu,
natti dhikaataneeran;
ammoo seera keeti irraa fagaataneeran.
- 151 Ee Mootii Waan Maraa,
ati dhikoo jirta;
ajaji keeti marti dhuga'a.
- 152 Bara baraan akka jiraatuuf,
akka ati seera keeti baache,
yennaa dheertu'uun dura
seera keeti irraa baradheera.

Qarqaarsa Gaafatiisa

- 153 Ani seera keeti waan hin dedhiniif,
ati rakkinna kiyya ilaaliitii na baasi.
- 154 Haajaa kiyya naaf falmiitii, na wodi.
Akka waadaa keetiititti
lubbuu tiyya hamburi.
- 155 Worri hamaan
seera keeti waan hin barbaanneef,
fayyinni isaan irraa fagaateera.
- 156 Ee Mootii Waan Maraa,
marartiin teeti guddo'o;
akka seera keetiititti
lubbuu tiyya hamburi.
- 157 Worri na miidhuu fi
diinoti kiyya heddu'u;
ani ammoo seera keeti irraa hin gorre.
- 158 Worri hin addatanne
jecha keetii waan hin eeganneef,
ani isaan ilaalee diqadhe.
- 159 Ajaja keeti attam akka ani jaaladhu ilaali;
Ee Mootii Waan Maraa,

akka marartii teetiititti,
lubbuu tiyya hamburi.

- 160 Jechi keeti martinuu dhuga'a.
Seerri keeti balchichi martinuu
ka haga bara baraa ti.

Seera Waaqaatiif Ajajamiisa

- 161 Qondaaltoti sababa malee na miidhan;
ani ammoo gadhaa sodaatuun
jecha keeti ulfeessa.
- 162 Akka nama boojuu guddoo dhaggatee,
ani jecha keetitti gammada.
- 163 Ani dhara jibba;
hin diqadhalle'e;
seera keeti ammoo hin jaaladha.
- 164 Seera keeti balchaa saniif,
guyya'atti yennaa torba ani si leellisa.
- 165 Worri seera keeti jaalatu
nageya guddaa qaban;
wonni isaan dande'ee gufachiisulle hin jiru.
- 166 Ee Mootii Waan Maraa,
ani addi'iin fayyisiisa keeti eegadha;
ajaja keetille hin muummessa.
- 167 Lubbuun tiyya seera keeti hin eegatti;
anille guddisee seera san jaaladha.
- 168 Hujiin tiyya martinuu
si duratti ifa waan teeteef,
ani ajaja keetii fi seera keeti hin eegadha.

Daadimata Qarqaarsa Dhaggatiisaaf Dhikaate

- 169 Ee Mootii Waan Maraa,
iyyi tiyya si bira geettuu ti;
akka jecha keetiititti
hubantii naaf kenni.
- 170 Gaaffiin tiyya si bira geettuu ti;
akka waadaa keetiititti na baasi.
- 171 Ati seera keeti waan na barsiittuuf,
afaan kiyya leellisa hin dhangalaasa.
- 172 Seerri keeti marti balchaa waan te'eef,
arrabi kiyya
marroo waadaa keetii faarsuu ti.
- 173 Ani ajaja keeti waan filadheef,
harki keeti na qarqaariisaaf qophowuu ti.
- 174 Ee Mootii Waan Maraa,
ani fayyisiisa keeti halcha;
seerri keetille gammada kiyya.
- 175 Akka si leellisuuf ani lubbuu jiraadhuu ti;
seerri keeti na qarqaaruu ti.
- 176 Ani akka hoolee baddee
karaa irraa goreera;
ani seera keeti waan hin dedhiniif,
ati ana tajaajilaa keeti barbaadi.

120

Daadimata Qarqaarsa Dhaggatiisaaf Dhikaate

Faaruu Ittiin ol bayanu

- ¹ Rakkinna kiyya keessatti
ani gara Mootii Waan Maraa iyye;
innille deebii naaf kenne.
- ² Ee Mootii Waan Maraa,
worra dhara dubbatuu fi
soba dubbatu jalaa na baasi.
- ³ Ee isin worra dhara dubbatu,
Waaqi maan isin godha laati?
Inni attam isin adaba laati?
- ⁴ Daaya loltootaa ka qara qabuun,
kashila ibiddaa
ka muka dhaddachaatiin isin adaba.
- ⁵ Ana ka lafa worra Mesheekiititti galee,
dunkaanii worra Qedaarii keessa le'uuf aanne'e!
- ⁶ Worra nageya jibbu san odduu,
ani yennaa hedduu le'e.
- ⁷ Ani nama nageyaa ti;
yennaa ani marroo nageyaa dubbadhu ammoo,
isaan lolaaf ka'an.

121

Ka Nu Eegu Waaqa

Faaruu Ittiin Ol bayanu

- ¹ Ani ila tiyyaan gara koobaa ol ilaale;
qarqaarsi kiyya eessaa dhufa?
- ² Qarqaarsi kiyya ka ol-gubba'aa fi lafa dade,
Mootii Waan Maraa biraa dhufa.
- ³ Inni miilli keeti akka mucucaatu hin lakkisu;
ka si eegu hin mugu.
- ⁴ Dhugumaan, ka Israa'el eegu
hin mugu; hin rafulle'e.
- ⁵ Mootiin Waan Maraa si eega;
Mootiin Waan Maraa gaaddisa keeti;
inni midda keeti jira.
- ⁶ Guyyaa aduun,
halkan jiin si hin miidhu.
- ⁷ Mootiin Waan Maraa
Waan hantuu mara irraa si eega;
inni jiruu teeti hin eega.
- ⁸ Mootiin Waan Maraa bayaa fi gala keeti
ammaa jalqabee haga bara baraatitti hin eega.

122

Leellisa Yerusaalemii

Faaruu Daawitii, Ta Ittiin ol bayanu

- ¹ «Gara mana Mootii Waan Maraa dhandha!»
yennaa isaan naan jedhane

- ani gammade.
- ² Ee Yersaaleem, miilli keenna,
karra teeti keessa dhaabbateera.
- ³ Yersaaleem qachaa wolitti hiiqee
jabeeffamee ijaarameeru.
- ⁴ Akkuma ajaja Israa'eliif kennameetitti,
achitti maqaa Mootii Waan Maraa leellisiisaaf,
gosi Mootii Waan Maraa ol bayan.
- ⁵ Achitti moototi sanyii Daawitii kolbaa bulchiisaaf,
barcuma mootumma'aa dhaabbatane.
- ⁶ Nageya Yersaaleemiitiif daadimadha'a:
«Worri isii jaalatu milkowuu ti.
- ⁷ Dalleya isii keessa nageenni,
mana mootumma'aa
ta isii keessa sarmiis jiraatuu ti» jedha'a.
- ⁸ Ani sababa firootaa fi jaalota kiyyaatiif,
«Nageenni si keessa jiraatuu ti» hin jedha.
- ⁹ Sababa mana Mootii Waan Maraa
Waaqa keennaatiif,
ani waan dansaa si'iif hin halcha.

123

Daadimata Marartii Dhaggatiisaaf Dhikaate

Faaruu Ittiin Ol Bayanu

- ¹ Mootii Waan Maraa,
ilti tiyya gara keeti, ol gubbaa
ka barcumaan mootumma'aa keeti irra jiruu,
ol ilaalti.
- ² Akkuma ilti garbootaa
gara harka gootaa ifii,
ilti garbitti'ii
gara harka giittii ifii ilaaltu,
haga ati marartii nutti mudhittutti
Mootii Waan Maraa Waaqa keenna,
ilti teennalle gara keeti ilaalti.
- ³ Ee Mootii Waan Maraa,
waan akka malee tuffatanneef,
nuu marari! Nu Marari!
- ⁴ Murgoon worra qanani'ii,
tuffiin worra koorameeyyi'ii
akka malee nutti bacatteerti.

124

Waaqi Kolbaa Ifi Hin Eega

Faaruu Daawitii, Ta Ittiin ol bayanu

- ¹ Mootiin Waan Maraa
nu waliin adoo jiraatuu dhabaatee,
Israa'el,
- ² «Yennaa diinoti keenna nu lolanu,
Mootiin Waan Maraa
adoo nu waliin jiraatuu dhabaatee,
- ³ yennaa aariin isaanii

- nu irratti bobeette san,
 silaa adoo jirruu nu liqinsaniiyyu;
⁴ silaa bisaan nu haxowee dabaraayyu;
 lolaan nu irra garagalaayyu;
⁵ silaa bisaan hamaan
 nu irra yaa'aayyu» jettuu ti.
⁶ Ilkaan isaanii akka nu kukkutatu
 ka nu hin lakkisin,
 Mootiin Waan Maraa leellifamuu ti.
⁷ Akka sinbirrooti
 tiyyoo worra adansuu jalaa baatu,
 nuutille tiyyoo isaanii jalaa baane;
 tiyyoon ciccitte; nuutille jalaa baane.
⁸ Maqaa Mootii Waan Maraa
 ol-gubba'aa fi lafa dadeen,
 nuuti qarqaarsa dhagganne.

125

Wobii Kolbaa Waaqaa

Faaruu Ittiin Ol Bayanu

- ¹ Worri Mootii Waan Maraatitti addatu
 akka gaara Xiyoonii,
 ka ijumaa hin tachoone,
 ka haga bara baraa jabaatee dhaabbatuu ti.
² Akkuma gaaroti Yerusaalem marsaneeranu,
 ammaa jalqabee haga bara baraa,
 Mootiin Waan Maraa
 kolbaa ifii hin marsa.
³ Worri hamaan
 lafa worra balchoole'ee hin bulchanu;
 yoo bulchane,
 kolbaan balchaan
 waan hantuu hujiisaaf harka diriirfatti.
⁴ Ee Mootii Waan Maraa,
 worra dansaa te'eef,
 worra gadhaa ifii keessatti
 qajeelaa te'eefille dansaa godhi.
⁵ Ammoo, Mootiin Waan Maraa
 worra waan hantuu huju,
 worra karaa dabaaleessa ifii gula deebi'e
 woliin hin gata.

Nageenni Israa'eliif te'uu ti.

126

Faaruu Worra Boojuu Keessaa Deebi'ee

Faaruu Ittiin Ol Bayanu

- ¹ Yennaa Mootiin Waan Maraa
 boojuu keessaa gara Xiyoonii nu deebise,
 oojjuu nutti fakkaatte.
² Afaan keenna kollaana,
 arrabi keenna ililleetti'iin guutame.
 Achiin duuba gosa biyya adda addaa oddu'utti,

- «Mootiin Waan Maraa
waan guddoo isaaniif tolche» jedhante.
- ³ Mootiin Waan Maraa,
waan guddoo nuuf godheera;
nuutille gammanne.
- ⁴ Ee Mootii Waan Maraa,
Goomolee kibba Kana'aaniitiif*
akkuma bisaan deebittu,
akka dur jirrutti nu deebisi.
- ⁵ Worri imimmaan dhangalaasaa facaasane,
ilillisaa haammatan.
- ⁶ Worri sanyii facaasiisaaf,
ba'atane bowaa deemanu,
laddee ba'atane ilillisaa hin deebi'an.

127

Leellisa Arjummaa Waaqaatiif Dhikaate

Faaruu Solomoonii, Ta Ittiin Ol Bayanu

- ¹ Mootiin Waan Maraa
mana yoo hin ijaarin,
worri mana ijaaru
akkasumaan itti elowan;
Mootiin Waan Maraa
qachaa yoo hin eegin,
eeddoti qacha'aa akkasumaan elowan.
- ² Mootiin Waan Maraa
worra jaalatuuf foora waan kennuuf,
bari'iin ka'iis,
turanee rafiis,
bu'aa hin qabu.
- ³ Ijoolleen kennansa Mootii Waan Maraa ti;
midhaan gadaamessaa,
eebba isaa ti.
- ⁴ Ilmaan dargaggumma'aan uumatanu,
akka daaya harka loltootaa keessa jirtuu ti.
- ⁵ Nami ilmaan akka daayaa mana guutate
gammaduu ti;
diinota ifii woliin
karra qacha'aa keessatti yennaa wol falme,
inni hin qaanowu.

128

Gatii Nama Waaqaaf Ajajamuu

Faaruu Ittiin Ol Bayanu

- ¹ Nami Mootii Waan Maraa sodaatu marti,
ka karaa isaa ideemu ka gammade.
- ² Waan harka keetiin eloottee
dhaggatte hin nyaatta;
ati hin gammadda; hin milkoottalle'e.

* **126:4** Kibba Kana'aanii: Afaan Ibrootaatiin Negeb Jedha.

- ³ Niitiin teeti mana keeti keessatti,
 akka muka woyni'ii
 ka midhaan buusuu hin teeti;
 ijoolleen teeti adaala qorii teetiititti,
 akka lattuu muka ejersaa hin teeti.
- ⁴ Nami Mootii Waan Maraa sodaatu
 akkana hin eebbifama.
- ⁵ Mootiin Waan Maraa
 gaara Xiyoonii irraa si eebbisuu ti;
 bara jiruu teetii mara,
 qananummaa Yersaaleemii dhaggi.
- ⁶ Ijoollee ijoollee teetii dhaggi;
- Nageenni Israa'eliif te'uu ti.

129

Daadimata Diinota Xiyoonii Irratti Dhikaate

Faaruu Ittiin Ol Bayanu

- ¹ Kolbaan Israa'elii,
 «Dargaggummaa tiyyaa jalqabanees,
 diinoti guddoo na rakkisaneeran;
- ² «Isaan dargaggummaa tiyyaa jalqabanees,
 guddoo na rakkisaneeran;
 te'uu malee na hin injifanne.
- ³ Akka nama fichaa qotuu
 dudda kiyya babbassanee,
 babadhisanees dudda kiyya madeessane.
- ⁴ Mootiin Waan Maraa ammoo balcha'a;
 inni wodaroo worra hama'aa
 na irraa kuteera» jettuu ti.
- ⁵ Worri Xiyoon jibbu martinuu qaanowanees,
 gara duubaa deebi'uu ti.
- ⁶ Akka marra mana irratti latee,
 adoo hin guddatin qooruu te'anuu ti;
⁷ marri sun qabaa harka nama isa haamuu,
 yookiin hanqafuu isaa hin guutu.
- ⁸ Worri achiin dabaru,
 «Eebbi Mootiin Waan Maraa isiniif te'uu ti!
 Nuuti maqaa Mootii Waan Maraatiin
 isin eebbinna!» isaaniin hin jedhin.

130

Faaruu Qarqaarsa Dhaggatiisaaf Dhikaatte

Faaruu Ittiin Ol Bayanu

- ¹ Ee Mootii Waan Maan Maraa,
 ani qilee keessaa gara keeti iyya;
- ² Ee Gootta'a, qoonqoo tiyya naaf dhage'i!
 Gurri keeti gara iyya tiyyaa caqasuu ti.
- ³ Ee Mootii Waan Maraa,

- ati adoo yakkaa namatti laakkottee,
 ee Gootta'a silaa eennutti
 si dura dhaabbatuu dande'a?
⁴ Ammoo akka nuuti si sodaannuuf,
 ati nu'uuf araaranta.
- ⁵ Ani Mootii Waan Maraa eegadha;
 Lubbuun tiyyalle hin eegatti;
 addi'iin jecha isaa eegadha.
- ⁶ Eeddota bari'iisa eegatanu caalaa,
 ee, eeddota bari'iisa eegatanu caalaa,
 lubbuun tiyya Goottaa eegatti.
- ⁷ Jaalalli bara baraa
 Mootii Waan Maraa bira waan jiruuf,
 wodiisaaf hunni guddoolle
 isa bira waan jirtuuf,
 ee Israa'el, Mootii Waan Maraatiitti
 addii godhadhu.
- ⁸ Inni yakkaa isi'ii mara irraa
 Israa'el hin woda.

131

Gad Ifi Qabanees Waaqatti Addatiisa

Faaruu Daawitii, Ta Ittiin Ol Bayanu

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa,
 gadhaan kiyya hin kooru;
 mataa hin dhaabu;
 waan gugurdoo,
 yookiin waan baasaa hin huju.
- ² Akka annuu harma irraa guutee
 haadha woliin jirtuu,
 ani lubbuu tiyya sarmisiisee cadhisiise;
 akka annuu harma irraa guutee,
 lubbuun tiyya na keessatti cadhitte.
- ³ Ee kolbaa Israa'elii,
 ammaa jalqabiitii haga bara baraatitti,
 Mootii Waan Maraatiitti addii godhadhu.

132

Leellisa Galma Waaqaa

Faaruu Ittiin Ol Bayanu

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa,
 Daawitii fi farra inni dhagge qaabadhu.
- ² Inni Mootii Waan Maraatiif kakuu kakatee,
 Waaqa hunnaamessa Yaaqoobiitiif waadaa galee,
- ³⁻⁵ «Haga Mootii Waan Maraatiif
 addee qopheessutti,
 Waaqa hunnaamessa Yaaqoobiitiif
 haga mana ijaarutti,
 mana kiyya hin seenu;
 yookiin gara taqee tiyyaa hin dhaqu.

Ani hin rafu;
yookiin hin mugu» jedhe.

⁶ Nuuti Efraata'atti
marroo Saanduqa Gondooro'oo dhageenne;
diida Yaa'ariititti isii dhaggine.

⁷ Kowa'a, gara addee Mootiin Waan Maraa le'uu
dhandhaa!
Ejjeta miila isaa jalatti isaaf sagannaa.

⁸ Ee Mootii Waan Maraa, ka'i!
Saanduqa Gondooro'oo
ka hunna teeti mudhisu woliin,
gara addee foora keetii dhaqi.

⁹ Hayyooti teeti balchummaa uffatanuu ti;
Addatantooti teetille ilillisaa faarsanuu ti.

¹⁰ Tajaajilaa keeti Daawitiif jedhiitii,
nama muudde hin lakkisin.

¹¹ Mootiin Waan Maraa
kakuu dhuga'aa ta hin jijjiirane,
Daawitiif kakatee,

«Ilmaanuma sanyii teetii keessaa tokkocha,
ani barcumaa mootumma'aa keeti irra
hin teessisa.

¹² Ilmaan teeti Gondooroo tiyya yoo eegatane,
ajaja ani isaan barassiisu yoo eegatane,
ilmaan isaaniille haga bara baraa
barcumaa mootumma'aa keeti irra
hin tee'an» jedheera.

¹³ Mootiin Waan Maraa
Xiyyoon waan filateef,
qe'ee ifii godhatiisaaf fedheera:

¹⁴ Inni, «Tun haga bara baraa
addee foora kiyyaa ti;
ani waan isii jaaladheef,
addee le'u isii hin godhadha.

¹⁵ Waan nyaataatiin
bacessee isii hin eebbisa;
hiyyeeyyii isi'ii
sagalee hin quussa.

¹⁶ Hayyoota isi'ii
fayyinna itti hin uffisa;
addatantooti isi'iille
ilillisaa hin faarsan.

¹⁷ Maatii Daawitii keessaa
mootii hin muuda;
ka muude saniif akka inni bulchu
karaa hin qopheessa.

¹⁸ Diinota isaa qaanii itti hin uffisa;
kallachi isa irraa ammoo
hin balaqqisa» jedheera.

133

Jaalala Kolbaa Waaqaa

Faaruu Daawitii Ta Ittiin Ol Bayanu

- ¹ Kolbaan Waaqaa
tokkumma'aan yennaa woliin leetu,
attam attam dansa'a;
attam attam nama gammachiisa!
- ² Tokkummaan tun
akka zayitii ejersaa ta gatii guddo'oo
ta mataa irraa areeda irra gad yaatu,
areeda Aaronii irra,
haga handaara woyaa isaa gad yaatuu ti.
- ³ Tokkummaan tun
akka fixeensa gaara Hermoonii,
ka gaarota Xiyoonii irratti bu'uu ti;
eebbi jiruu bara baraa
achi irratti akka dhaggamu
Mootiin Waan Maraa ajajeera.

134

Waaqa Leellisa'a

Faaruu Ittiin Ol Bayanu

- ¹ Isin tajaajiltooti Mootii Waan Maraa marti,
worri halkan
Galma Mootii Waan Maraa keessa tajaajiltanu,
Mootii Waan Maraa leellisa'a!
- ² Addee Woyyittii keessatti
harka keessan ol kaasa'aa,
Mootii Waan Maraa leellisa'a!
- ³ Mootiin Waan Maraa
ol-gubba'aa fi lafa dade,
Xiyoona keessaa isin eebbisu ti!

135

Faaruu Leellisaa

- ¹ Mootii Waan Maraa leellisa'a!
Maqaa Mootii Waan Maraa leellisa'a;
ee tajaajiltoota Mootii Waan Maraa,
isa leellisa'a!
- ² Isin worri
mana Mootii Waan Maraa keessaa fi
badhinna mana Waaqa keenaa
keessa tajaajiltanu isa leellisa'a.
- ³ Mootiin Waan Maraa
dansaa waan te'eef,
isa leellisa'a!
Maqaan isaa gammachiisaa waan te'eef,
faaru'uun leellisa'a!
- ⁴ Mootiin Waan Maraa Yaaqoob ifiif,
Israa'el qabeenna ifi
ka addaa godhee filateera.

- ⁵ Mootiin Waan Maraa guddaa akka te'e,
 Gootaan keenna
 waaqota mara akka caalu ani hin beeka.
- ⁶ Ol-gubbaa keessaa fi lafa irratti,
 abbaaya'aa fi qilee isi'ii mara keessatti,
 Mootiin Waan Maraa
 waan fedhe mara godha.
- ⁷ Inni duumensa qaccee lafaatii kaasee fida;
 bokkeya woliin balaqqeettii,
 mana kuusaa ifii keessaa qilleensa fida.
- ⁸ Inni angafa ilmaan namaatii fi hori'ii
 ka biyya Gibxi'ii fixe.
- ⁹ Ee biyya Gibxi'ii, inni si keessatti
 Fara'oonii fi tajaajiltoota isaa mara irratti,
 bilbaasaa fi waan maade'ee huje.
- ¹⁰ Inni gosa biyya adda addaa
 hedduu gad dhowee,
 mootota hunnaameyyii,
¹¹ mootii Amoorotaa Sihoon,
 mootii biyya Baashaanii Oog,
 mootummoota Kana'aanii mara ijjeese.
- ¹² Lafa isaaniille akka dhaalaatitti,
 kolbaa ifii Israa'eliif dhaala kenne.
- ¹³ Ee Mootii Waan Maraa,
 maqaan keeti haga bara baraa jiraata;
 Ee Mootii Waan Maraa,
 dhaloota mara keessatti hin qaabatanta.
- ¹⁴ Mootiin Waan Maraa
 kolbaa ifitiif muraa hin kenna;
 tajaajiltoota ifitiifille marartii hin qaba.
- ¹⁵ Waaqoti dharaa
 ka gosa biyya adda addaa worqi'ii fi meetii,
 harka namaatiin hujamane.
- ¹⁶ Isaan afaan qaban malee, hin dubbatanu;
 ila qaban malee, hin dhagganu.
- ¹⁷ Isaan gurra qaban malee, hin dhage'anuu;
 afaan isaanii keessalle hafuurri hin jiru.
- ¹⁸ Worri isaan hujuu fi
 isaanitti dhugeeffatu martinuu,
 akkuma isaanii jiran.
- ¹⁹ Ee kolbaa Israa'elii,
 Mootii Waan Maraa leellisa'a!
 Ee hayyoota sanyii Aaronii,
 Mootii Waan Maraa leellisa'a!
- ²⁰ Sanyii Lewwootaa,
 Mootii Waan Maraa leellisa'a!
 Isin worri Mootii Waan Maraa sodaattanu,
 Mootii Waan Maraa leellisa'a!
- ²¹ Mootiin Waan Maraa
 ka Yerusaalem keessa le'u,
 Xiyyoon keessatti leellifamuu ti!

Mootii Waan Maraa leellisa'a.

136

Faaruu Galataa

- ¹ Mootiin Waan Maraa
dansaa waan te'eef,
isa galateeffadha'a;
jaalalli isa ka bara baraa ti.
- ² Waaqa waaqotaa galateeffadha'a;
jaalalli isaa ka bara baraa ti.
- ³ Goottaa goottotaa galateeffadha'a;
jaalalli isaa ka bara baraa ti.
- ⁴ Ka qofuu baasa guddaa huju,
jaalalli isaa ka bara baraa ti.
- ⁵ Ka qarummaa ifitiin ol-gubbaa dade,
jaalalli isaa ka bara baraa ti.
- ⁶ Ka lafa bisaan gubbaa diriirse,
jaalalli isaa ka bara baraa ti.
- ⁷ Ka ifa gugurdaa huje,
jaalalli isaa
haga bara baraa jiraata.
- ⁸ Ka aduun guyyaa
baallii akka qabaattu godhe,
jaalalli isaa ka bara baraa ti.
- ⁹ Ka Ji'aa fi urjooti
halkan akka baallii qabaatanu godhe,
jaalalli isaa ka bara baraa ti.
- ¹⁰ Ka angafoota ilmaan worra Gibxi'ii ijjeese,
jaalalli isaa ka bara baraa ti.
- ¹¹ Ka Israa'eloota Gibxii keessaa baase,
jaalalli isaa ka bara baraa ti.
- ¹² Ka hunna ifii guddo'oo fi
jabeenna ifitiin tana godhe,
jaalalli isaa ka bara baraa ti.
- ¹³ Ka abbaayaa diintuu gargar kute,
jaalalli isaa ka bara baraa ti.
- ¹⁴ Ka kolbaan Israa'elii
odduu isi'ii akka dabartu godhe,
jaalalli isaa ka bara baraa ti.
- ¹⁵ Fara'oonii fi loltoota isaa ammoo
abbaayaa diintuu keessatti ka fixe;
jaalalli isaa ka bara baraa ti.
- ¹⁶ Ka goomolee keessa
kolbaa ifii sooresse,
jaalalli isaa ka bara baraa ti.
- ¹⁷ Ka mootota gugurdoo ijjeese,
jaalalli isaa ka bara baraa ti.
- ¹⁸ Ka mootota hunnaameyyii ijjeese,
jaalalli isaa ka bara baraa ti.
- ¹⁹ Ka mootii worra Amoorotaa,
Sihoon ijjeese,

- jaalalli isaa ka bara baraa ti.
²⁰ Ka mootii Baashaanii, Oog ijjeese,
 jaalalli isaa ka bara baraa ti.
²¹ Ka lafa isaanii
 dhaala godhee Israa'elootaaf kenne,
 jaalalli isaa ka bara baraa ti.
²² Israa'eloota
 tajaajiltoota ifitiif ka dhaalchise,
 jaalalli isaa ka bara baraa ti.
²³ Ka injifatama keenna keessatti
 nu qaabate,
 jaalalli isaa ka bara baraa ti.
²⁴ Ka diinota keenna jalaa nu baase,
 jaalalli isaa ka bara baraa ti.
²⁵ Ka dada maraaf sagalee kennu,
 jaalalli isaa ka bara baraa ti.
²⁶ Waaqa ol-gubba'aa galateeffadha'a;
 jaalalli isaa ka bara baraa ti.

137

Gadda Israa'elootaa Ka Boojuu Keessaa

- ¹ Nuuti laga Baabilonii bira teennee,
 yennaa Xiyoona qaabanne boonne.
² Muka olaati'ii irratti
 kiraarota keenna gugurdaa san fanninne.
³ Worri booji'ee nu farrisiisu,
 achitti faaruu isaan gammachiittu
 akka faarsinu nu gaafatane,
 «Faaruu marroo Xiyoonii keessaa
 takkattii faarsa'a» jedhane.
⁴ Lafa ormaa keessatti,
 nuuti attam faaruu Mootii Waan Maraa
 faarsuu dandeenna ree?
⁵ Ee Yerusaalem, yoo ani si dedhe,
 harki kiyya middichi
 ogummaa ifii dedhuu ti.
⁶ Yerusaalem, ani yoo si hin qaabatin,
 waan itti gammadu mara
 yoo si hin caalchisin,
 arrabi kiyya laagadaa kiyyatti goguu ti.
⁷ Ee Mootii Waan Maraa,
 guyyaa Yerusaalem diigante,
 worri Edoonii, «Diiga'a! Diiga'a!
 Haga hundee isi'iititti gad jissa'a!»
 attam akka isaan jedhane qaabadhu.
⁸ Ee Baabilonii diigantu!
 Waan ati nu irratti goote,

- ka deebisee si irratti godhu ka gammade.
⁹ Ka daa'immaan teeti qabee,
 rassaa irratti macalaasu ka gammade.

138

Faaruu Galataa

Faaruu Daawitii

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa,
 ani gadhaa tokkochaan si galateeffadha;
 waaqota duratti ani faaru'uun si leellisa.
² Ani gara Galma keeti woyyichaa
 fuula galee sagada;
 jaalala keeti ka bara baraatii fi
 addatamummaa keetiiifille,
 maqaa keetii fi jecha keeti
 waan mara caalaa waan saaddeef,
 ani maqaa keeti leellisa.
³ Yennaa ani si waame,
 ati deebii naaf kennite;
 ati na jabeessitee,
 lubbuun tiyya hunna horatte.
⁴ Ee Mootii Waan Maraa,
 jecha afaan keetii yennaa dhage'ane,
 moototi lafaa martinuu si leellisan.
⁵ Ulfinni Mootii Waan Maraa
 guddaa waan te'eef,
 isaan marroo karaa isaa hin faarfatan.
⁶ Mootiin Waan Maraa ol aanaa te'ulle,
 inni worra gad aanaa hin ilaala;
 worra kooru ammoo fago'otti beeka.
⁷ Ani rakkinna keessa yoo ideemelle,
 ati jiruu tiyya hin eedda;
 ati harka keeti diriirsitee,
 mufii diinota kiyyaa mormita;
 harka keeti middichaan na hin baacha.
⁸ Mootii Waan Maraa,
 ati yaada keeti mara
 naaf hin muummessita;
 ee Mootii Waan Maraa,
 jaalalli keeti ka bara baraa ti;
 hujii harka keetii ati hin lakkisin.

139

Waaqa Waan Mara Beeku

Faaruu Daawitii, soorressa faarfattootaatiif.

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa,
 ati qorqortee na beetteerta.
² Ati teessoo tiyyaa fi ka'a tiyya hin beetta;
 yaada kiyya fago'ottuu hubatta.
³ Addee ani deemu fi itti foorfadhu
 hubattee beetta;

- ati hujii tiyya mara hin beetta.
- ⁴ Adoo dubbiin afaan kiyyaa hin bayin,
ee Mootii Waan Maraa,
ati dubbii san maraayyuu hin beetta.
- ⁵ Ati duraa fi duuba kiyya
harka keeti ana irra qaddeerta.
- ⁶ Beekkumsi akkasii akka malee naaf baasa;
akka malee hubantii tiyyaan ol.
- ⁷ Ayyaana keeti duraa eessa deemuu dande'a?
Fuula keeti duraa eessa baqatuu dande'a?
- ⁸ Gara ol-gubba'aa yoo ol baye, ati achi jiraata;
addee worri du'e jiru keessa yoo irkadhelle,
ati achi jirta.
- ⁹ Ani koola baasee akka dayya'a boru'uu ka'ee,
gara seensuma adu'utitti yoo qubadhe,
¹⁰ silaa achille'etti harki keeti na hin soorressa;
harki keeti middichi jabeessee na qabaayyu.
- ¹¹ Ani, «Dukkanti dhugumaan na hin golliti;
ifi adaala kiyyaalle
halkan hin te'a!» yoo jedhe,
¹² dukkantinuu sitti hin dukkanoottu;
si'iif dukkanti akka ifaa waan teeteef,
halkan akka guyya'aa ifa.
- ¹³ Keessa namummaa tiyyaa ka dade si'i;
gadaamessa haadha tiyyaa keessatti
sittuu na dade.
- ¹⁴ Ani baasa maso'oo te'ee waan dadameef,
ani si leellisa;
hujiin teeti waan maade'ee ti;
anille tana miidhassee beeka.
- ¹⁵ Ani yennaa addee dhossa'aatitti dadame,
qilee gadaamessaa keessatti dadame;
lafeen tiyyaayyuu si duraa hin dhokanne.
- ¹⁶ Gadhaa haadha tiyyaa keessatti,
adoo ani dhiigaatuu,
ilti teeti na dhaggite;
dhaladhee barri jiruu tiyyaa
laakkowamiisa adoo hin jalqabin,
guyyooti naaf yaadamane marti
kitaaba keeti keessatti barreeffamane.
- ¹⁷ Ee Waaqa, yaadi keeti hubatiisaaf
attam attam natti ulfaata!
Guutumatti attam attam bacata!
- ¹⁸ Ani laakkowiisaaf yoo wodhaane,
maansa caala hin bacata;
ani yennaa dammaqu,
ammalle sima woliin jira.
- ¹⁹ Ee Waaqa, nama hamaa adoo ijeettee!
Isin worri dhiiga namaa dhangalaasu
na irraa fagaadha'a!

- 20 Isaan hammeennaan
marroo teeti dubbatan;
diinoti keeti akkasumaan
maqaa keeti kaasan.
- 21 Ee Mootii Waan Maraa,
ani worra si jibbu hin jibba;
worra si irratti ka'ulle ani hin diqadha.
- 22 Ani ijumaa isaan jibba;
isaan diinota natti te'aneeran.
- 23 Ee Waaqa, qorqoriitii gadhaa kiyya beeki;
haga na ilaaliitii yaaddoo tiyya beeki.
- 24 Hammeenni yoo na keessa jiraate ilaali!
Karaa bara baraa irra na sooressi.

140

Diinota jalaa Bayiisaaf Daadimata Dhikaate

Faaruu Daawitii, sooressa faarfattootaatiif

- 1 Ee Mootii Waan Maraa,
namoota hamaa jalaa na baasi;
worra hunnaan nama irratti ka'u
na irraa eegi.
- 2 Isaan waan hantuu
qalbii ifii keessatti yaadan;
yennaa mara lola kaasan.
- 3 Isaan arraba ifitiin
akka dhudhuufa'aa nama iddan;
hidhii isaanii jala
hadhaa buuti'ititti jira.
- 4 Ee Mootii Waan Maraa,
harka worra hama'aa irraa na eegi;
worra hunnaan nama irratti ka'u,
ka miila kiyya qaxafiisaaf
mala dhowanu irraa na eegi.
- 5 Worri kooru fonxorroo naaf afe;
isaan wodaroo caccoo ifii diriirsane;
tiyyoo karaa irratti naaf keyane.
- 6 Ee Mootii Waan Maraa,
ani si'iin, «Ati Waaqa kiyya» jedha;
ee Mootii Waan Maraa,
iyya tiyya dhage'i.
- 7 Ee Mootii Waan Maraa,
Gootaa kiyya, jabaa na baachu;
ati guyyaa lolaa mataa kiyya golliteerta.
- 8 Ee Mootii Waan Maraa,
fedhii nama hama'aa hin muummessiniif;
mala dhowelle hin milkeessiniif.
- 9 Worra na marsee mataa togu,
sababi afaan isaanii
isaanuma irratti garagaluu ti.
- 10 Kashilli ibiddaa isaan irra bu'uu ti;
ibiddatti yookiin,
boolla deebi'anee keessaa hin baane,

- keessatti gatamanuu ti.
¹¹ Nami maqaa namaa balleessu
 biyya keessatti hin qubatin!
 Ka hunnaan nama irratti ka'ulle
 wonni hantuun isa adansituu ti.
- ¹² Mootiin Waan Maraa
 haajaa worra hiyyeeyyi'ii akka fixu,
 worra rakkata'aaf
 haqa akka muru ani hin beeka.
- ¹³ Dhugumaan worri balchooleen
 maqaa isaa hin leellisan;
 worri qajeelaan fuula isaa dura hin le'an.

141

Daadimata Cubbuu Akka Hin Hunyeef Dhikaate

Faaruu Daawitii

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa,
 ani si Waammadha;
 ati ariifadhuu na bira koy!
 Yennaa ani si waammadhu,
 qoonqoo tiyya dhage'i.
- ² Daadimati kiyya
 si duratti akka hixaana aarfamuu,
 harka ol kaasuun kiyya
 akka ciincaa galgalaa te'uu ti.
- ³ Ee Mootii Waan Maraa,
 afaan kiyyaaf eedduu,
 hidhii tiyyaaf tissee tolchi.
- ⁴ Hantuu hujiisaaf akka hin halchine,
 worra hantuu huju waliin
 qooda akka hin fudhanne na eegi;
 worra hantuu huju waliin
 sagalee isaanii dansaa
 akka nyaadhu na hin lakkisin.
- ⁵ Nami balchaan na dhaaniis naaf dansa'a;
 na xixiis isaalle akka dhadhaa mata'aa ti;
 mataan kiyya dhadhaa hin jibbu.
 Hujii worra hama'aa didiisaaf ammoo,
 ani yennaa mara daadimadha.
- ⁶ Bulchitooti isaanii
 yennaa bowwaa rassa'aatitti
 gad qolaanfamane,
 wonni ani dubbadhe
 dhugaa akka teete hin beekan.
- ⁷ Isaan, «Akkuma nami lafa qotee butuchu,
 lafeen teennalle
 addee worri du'e jirutti bittinnootte»
 hin jedhan.
- ⁸ Ee Mootii Waan Maraa,
 Gootaa kiyya,

- ilti tiyya gara keeti ilaalti;
 ani gara keeti baqadha;
 akka ani du'u na hin lakkisin.
⁹ Fonxoroo isaan naaf afane irraa,
 tiyyoo worra hantuu hujuu irraa na eegi.
¹⁰ Ani nageyaan dabaree,
 worri hamaan
 tiyyoo ifumaaf afeen qabamuu ti.

142

Miidhaa Jalaa Bayiisaaf Daadimata Dhikaate

Wolaloo Daawitii, ta yennaa inni gadda keessa jiruu; Daadimata.

- ¹ Ani qoonqoo ol qabadhee,
 gara Mootii Waan Maraa iyya;
 marartii dhagatiisaaf
 Mootii Waan Maraa gaafadha.
² Komii tiyya mara
 isa duratti dhangalaasa;
 rakkinna kiyyalle
 isa duratti himadha.
³ Yennaa ani addii kutatiisa geyeeru,
 gara ani ideemaaru ati hin beetta.
 Daandii ani irra ideemu keessa,
 isaan fonxoroo naaf dhossaneeran.
⁴ Adaala kiyya ilaalii dhaggi;
 nami naaf yaadatu hin jiru;
 addeen ani itti baqadhu hin jirtu;
 nami tokkolle haajaa kiyya hin qabu.
⁵ Ee Mootii Waan Maraa,
 ani gara keeti iyya;
 ani, «Ati ka ani itti baqadhu;
 lafa worra jiraata'aa tana keessatti
 ati qooda kiyya» jedha.
⁶ Ani waan qarqaarsa hin qanneef,
 iyya tiyya naaf caqasi;
 worri na miidhu
 guddoo waan natti jabaataneef,
 ati isaan jalaa na baasi.
⁷ Maqaa keeti akka leellifadhu,
 hidhaa keessaa na baasi.
 Ati waan dansaa waan naa gooteef,
 worri balchaan na hin marsan.

143

Diinota Jalaa Bayiisaaf Daadimata Dhikaate

Faaruu Daawitii

- ¹ Ee Mootii Waan Maraa,
 daadimata kiyya dhage'i;
 gurri keeti iyya tiyya caqasuu ti;
 addatamumma'aa fi balchummaa teetiin
 deebii naaf kenni.
² Si duratti nami balchaan waan hin jirreef,

ana tajaajilaa keeti mura'atti hin dhikeessin.

- ³ Diinni kiyya na ari'iisatti jira;
lafatti na butuchee,
akka worra bara dheera'aan dura du'ee,
dukkana keessa akka tee'u na godhe.
- ⁴ Maarre ani addii kutatiisa geyeera;
gadhaa kiyya keessatti sodaadheera.
- ⁵ Waan bara durii te'e hin qaabadha;
waan ati goote mara
itti deddeebi'ee hin yaada;
waan harki keeti huje hin herrega.
- ⁶ Ani harka kiyya gara keeti badhisa;
akka lafa goddee,
lubbuun tiyya si dheebotti.
- ⁷ Ee Mootii Waan Maraa,
ani addii kutatiisa geyeera;
ariifadhuu deebii naa kenni;
yookiin ani akka worra
gara boollaa gad bu'uu hin te'a;
fuula keeti na duraa hin dhoffatin.
- ⁸ Ani waan si addadhuuf,
ganama ganama bari'iin
jaalala keeti ka bara baraa natti lallabi.
Lubbuun tiyya gara keeti waan yaadduuf,
karaa ani irra deemu'uu male na barsiisi.
- ⁹ Ani gara keeti waan baqadheef,
Ee Mootii Waan Maraa,
diinota kiyya jalaa na baasi.
- ¹⁰ Ati Waaqa kiyya waan teeteef,
fedhii teeti akka muummessu na barsiisi.
Ayyaanni keeti dansaan
daandii qajeelaa irra na sooressuu ti.
- ¹¹ Ee Mootii Waan Maraa,
maqaa keetiif jedhiitii,
lubbuu tiyya jiraachisi;
balchummaa teetiin
rakkinna keessaa na baasi.
- ¹² Jaalala keeti ka bara baraatiin,
diinota kiyya fixi;
ani tajaajilaa keeti waan te'eef,
nyaaphota na rakkisu mara balleessi.

144

Daadimata Injifacha'aaf Dhikaatte

Faaruu Daawitii

- ¹ Rasaan kiyya,
ka harka kiyya lolaaf,
quba kiyya woraanaaf leenjisu,

- Mootiin Waan Maraa leellifamuu ti.
² Inni Waaqa kiyya ka nama jaalatu,
 kushee tiyya jadduu,
 dalleya dhaka'aa kiyyaa fi fayyisaa kiyya,
 wontee tiyya ta ani itti baqadhu,
 ka kolbaa tiyya hedduu
 na jalatti akka ajajantu godhu.
- ³ Ee Mootii Waan Maraa,
 akka ati isa kunuunsituuf,
 nami maan inni?
 Yookiin akka ati isaaf yaadattuuf,
 ilmi namaa maan inni?
- ⁴ Nami akka baafata hafuura tokkochaa ti;
 barri jiruu isaanille
 akka gaaddisa dabaruu ti.
- ⁵ Ee Mootii Waan Maraa,
 ol-gubbaa dayyaasii gad bu'i;
 akka aarri keessaa bayu,
 gaarota tuqi.
- ⁶ Balagqeettii balagqisiitii
 diinota bittinneessi;
 daaya keeti darbadhuutii isaan ari'i.
- ⁷ Gubbaa irraa harka keeti gad diriirsi;
 bisaan guddaa keessaa,
 harka ormaatii na baasiitii na hamburi.
- ⁸ Afaan isaanii soba dubbata;
 harka middicha ol kaasanee
 dharaan kakatan.
- ⁹ Ee Waaqa,
 ani faaruu haareya si'iif hin faarsa;
 kiraara guddicha ribuu kudhan qabu
 dhowataa si faarfadha.
- ¹⁰ Ati moototaaf injifachaa kennita;
 tajaajilaa keeti Daawitille
 shallaagaa ijjeesu jalaa hin hamburta.
- ¹¹ Na hamburi;
 harka worra ormaa keessaa na baasi;
 afaan isaanii soba dubbata;
 harka middicha ol kaasanee dharaan kakatan.
- ¹² Ilmaan teenna dargaggummaa ifitiin
 akka biqiltuu guddinna toltee,
 ijoolleen durraa teenna
 akka utubaa mana mootumma'aa seesiisaaf
 bocamee te'anuu ti.
- ¹³ Gootaraan keenna
 midhaan adda addaatiin guutamuu ti;
 hooloti teenna kumootaan,
 kumoota kudhaniin
 diida keenna keessatti hortuu ti.
- ¹⁴ Horiin keenna dodorroobuu ti;
 gadha'aa gatiisi, sadheessiisi hin jiraatin.
- Booji'amiis hin jiraatin;
 karaa keenna irratti
 iyyi gaddaa hin jiraatin.

- ¹⁵ Kolbaan eebbi akkasii te'eef gammadduu ti;
kolbaan Mootiin Waan Maraa
Waaqa isi'ii te'eef gammadduu ti.

145

Leellisa Waaqa Mootichaaf Dhikaate

Faaruu Daawitii.

- ¹ Ee Waaqa mootii kiyya,
ani si hin saadadha;
bara baraa haga bara baraa
maqaa keeti hin leellifadha.
- ² Guyyuma guyya'aan si hin leellisa;
bara baraa haga bara baraa
maqaa keeti hin saadadha.
- ³ Mootiin Waan Maraa gudda'a;
guddoo leellifamuu male;
guddinni isaa
qorqoramee bira hin geyamu.
- ⁴ Dhalooti tokko hujii teeti
dhaloota itti aanutti jaja;
hujii teeti ta maade'ee hin lassa.
- ⁵ Isaan marroo ulfinna keeti arnya qabeessaa
hin dubbatan;
anille marroo hujii teeti ta baasaa
itti deddeebi'ee hin yaadadha.
- ⁶ Isaan marroo hunna hujii teeti
ta baasaa hin dubbatan;
anille guddinna keeti hin odeessa.
- ⁷ Isaan marroo arjummaa teeti baca'aa
hin jilifatan;
Balchummaa teetiifille ililleetti'iin faarsan.
- ⁸ Mootiin Waan Maraa marara'a; arjaalle'e;
aari'iif hin ariifattu;
jaalalli isaalle gudda'a.
- ⁹ Mootiin Waan Maraa nama maraaf dansa'a;
inni waan ifii dade mara hin marara.
- ¹⁰ Ee Mootii Waan Maraa,
wonni ati dadde marti si hin leellifatti;
kolbaan teeti marti si hin saadatti.
- ¹¹ Isaan marroo ulfinna mootummaa teetii,
marroo hunna teetii hin dubbatan.
- ¹² Akka kanaan namooti marti
hujii teeti ta baasaatii fi
mootummaa teeti
arnya qabeettii ulfinnaa hin beekan.
- ¹³ Mootummaan teeti
mootummaa bara baraa ti;
ati haga bara baraa hin bulchita.
- ¹⁴ Mootiin Waan Maraa
worra jigaaru mara hin utuba;
worra jigelle ol kaasa.

- 15 Ilti nama maraa gara keeti ilaalti;
 atille sagalee isaanii
 yennaa maltetti isaanii kennita.
- 16 Ati harka keeti diriirsitee,
 halchaa waan lubbuu qabu maraa
 hin quussita.
- 17 Mootiin Waan Maraa
 karaa hujii ifii maraan balcha'a;
 waan huju maraan addatama'a.
- 18 Mootiin Waan Maraa
 worra isa waammatu maraaf,
 worra dhuga'aan isa waammatu maraaf
 dhikoo jira.
- 19 Inni halchaa worra isa sodaatuu hin guuta;
 iyya isaaniille dhage'ee,
 isaan hin baasa.
- 20 Mootiin Waan Maraa
 worra isa jaalatu mara hin eega;
 worra hamaaleyyii ammoo hin balleessa.
- 21 Afaan kiyya
 leellisa Mootii Waan Maraa hin dubbata;
 ka foon uffate martille
 bara baraa haga bara baraa,
 maqaa isaa woyyicha hin leellisa.

146

Waaqa Fayyisaa Leellisuu

- 1 Mootii Waan Maraa leellisa'a!
 Ee lubbuu tiyya
 Mootii Waan Maraa leellisi!
- 2 Ani bara le'ii tiyyaa mara
 Mootii Waan Maraa leellisa;
 haga jiru mara Waaqa kiyyaaf
 faaruu leellisaa hin faarfadha.
- 3 Worra isin baasuu hin dandeenne,
 qondaaltota ilmaan namaa
 itti hin addatina'a!
- 4 Isaan yennaa du'anu,
 gara biyye'ee deebi'an;
 guyyuma san karoorri isaanii hin bada.
- 5 Nami Waaqi Yaaqoobii qarqaarsa isaa te'e,
 ka Mootii Waan Maraa
 Waaqa ifii addii godhatu gammaduu ti.
- 6 Mootiin Waan Maraa ol-gubba'aa fi lafa,
 abbaaya'aa fi
 waan isaan keessa jiru mara dade;
 inni haga bara baraa
 addatamummaa ifii hin eegata.
- 7 Inni worra cunqurfameef
 haqaan mura;

- worra beeloteef sagalee kenna.
 Mootiin Waan Maraa
 worra hidhame bilisa baasee,
⁸ worra ballaa ila bana.
 Worra gad jedhe ol qaba;
 worra balchaa jaalata.
⁹ Mootiin Waan Maraa alagaa hin eega;
 inni ijoollee abba'aa fi haadha hin qannee fi
 haadhotii hiyyeessaa hin qarqaara;
 karaa worra hama'aa ammoo hin balleessa.
¹⁰ Ee Xiyoona,
 Waaqi keeti Mootiin Waan Maraa,
 dhalootaa haga dhalootaatitti,
 haga bara baraa hin bulcha.

Mootii Waan Maraa leellisa'a.

147

Leellisa Waaqa Waan Mara Dande'uuf Dhikaatu

- ¹ Mootii Waan Maraa leellisa'a;
 Waaqa keenna fuuru'uun leellisiis
 attam attam dansa'a!
 Isa leellisiis nama gammachiisa;
 dansaalle'e.
² Mootiin Waan Maraa
 Yersaalem deebisee hin ijaara;
 namoota Israa'elii
 ka bittinnowanelle deebisee hin fida.
³ Inni worra gaddaan
 gadhaan isaanii madaye hin fayyisa;
 madaa isaaniille hin hidha.
⁴ Inni laakkossa urjootaa haga beeka;
 mara isaaniituu maqaa isaaniitiin waama.
⁵ Mootiin Waan Maraa keenna gudda'a;
 akka malee hunna qaba;
 beekkumsi isaalle
 hagana hin jedhamu.
⁶ Mootiin Waan Maraa
 worra gad ifi qabu ol hin qaba;
 worra hamaaleyyii ammoo
 lafatti jissa;
⁷ Faaruu galataa
 Mootii Waan Maraatiif faarsa'a;
 kiraara guddichaan Waaqaaf faarsa'a.
⁸ Inni ol-gubbaa duumensaan golla;
 lafaaf rooba kenna;
 koobota irratti marri akka latu godha.
⁹ Inni hori'iif waan nyaatanu hin kenna;
 ilmooleen harraaqessaa yennaa iyyitu
 inni isaan hin soora.
¹⁰ Inni jabeenna fardaatiin,
 yookiin jabaanna rukkee miila namaatiin
 hin gammadu.

11 Mootiin Waan Maraa worra isa sodaatu,
jaalala isaa ka bara baraatitti
addii godhatuun gammada.

12 Ee Yerusaalem,
Mootii Waan Maraa leellifadhu;
Ee Xiyyoon, Waaqa keeti saadadhu.

13 Inni danqaraa karra teetii hin jabeessa;
kolbaa si keessatti hin eebbisa.

14 Meessaa keeti nageya hin godha;
qamadii dansa'aan si hin quussa.

15 Inni ajaja ifii gara lafaa hin erga;
jechi isaa ariiti'iin hin muummowa.

16 Inni dhakaa roobaa
akka fuutta'aa diriirsa;
qorra akka daadha'aa facaasa.

17 Inni dhakaa roobaa
akka katta'aa godhee gad buusa;
qorra isaa
eentu dura dhaabbatuu dande'a?

18 Inni jecha ifii hin erga;
dhakaan roobaa sun hin baqa;
qilleensi akka dhufu hin godha;
dhakaan roobaa sunille
bisaan te'ee yaa'a.

19 Inni jecha ifii sanyii Yaaqoobiititti
seera ifiitii fi qajeelcha ifii
Israa'elitti hin hima.

20 Inni gosa biyya dhibi'iitiif
akkas hin goone;
isaan seera isaa hin beekanu.

Mootii Waan Maraa leellisa'a.

148

Dadi Marti Waaqa Leellisanuu Ti

1 Mootii Waan Maraa leellisa'a!
Ol-gubbaa keessaa
Mootii Waan Maraa leellisa'a;
gubbaa olii keessatti isa leellisa'a.

2 Ergantooti isaa marti,
loltooti isaa ta ol-gubba'aa marti isa leellisa'a.

3 Ji'aa fi aduun isa leellisa'a;
isin urjooti ifa kennitanu marti isa leellisa'a.

4 Isin ol-gubbaan ol gubbootaa,
isin bisaan ol-gubba'aalle isa leellisa'a.

5 Isaan ajaja isaatiin waan dadamaneef,
maqaa Mootii Waan Maraa leellisanuu ti.

6 Inni haga bara baraa
addee isaaniititti jabeessee isaan dhaabe;

seera hin jijjiiranne isaanii kenne.

- ⁷ Bineensoti gugurdaan abbaayaa guddittii keessaa,
qileen abbaayaa gudditti'ii martinuu,
lafa irraa Mootii Waan Maraa leellisa'a!
⁸ Isin balaqqeetti'ii fi dhakaan roobaa,
gorrii fi hurriin,
hobonbolattiin ajaja isaa muummessitanu,
⁹ Gaarotii fi kooboti martinuu,
mukooti midhaan buusuu fi
birbirsooti martinuu,
¹⁰ bineensaa fi horiin martinuu,
bineensoti lafa irra lootanuu fi
koolaan kaatanu martinuu,
Mootii Waan Maraa leellisa'a.

¹¹ Moototi lafaatii fi
gosi biyya adda addaa martinuu,
qondaaltotii fi bulchitooti lafaa martinuu,
¹² dargaggeeyyiin dhiiraatii fi durraa,
jaarsole'ee fi ijoolleen,
Mootii Waan Maraa leellisa'a!

¹³ Maqaan isaa callaan
ka saadame waan te'eef,
ulfinni isaa lafaa fi
ol-gubbaa irra waan jiruuf,
isaan maqaa Mootii Waan Maraa
leellisanuu ti.
¹⁴ Kolbaan isaa Israa'elooti,
worri isatti dhikaatanu,
addatantooti isaa akka isa leellisanu,
jabeenna isaaniif kenne.

Mootii Waan Maraa leellisa'a.

149

Faaruu Leellisaa

- ¹ Mootii Waan Maraa leellisa'a;
faaru haareya
Mootii Waan Maraatiif faarsa'a!
Wolde'a kolbaa isaa keessatti
isa leellisa'a.
² Israa'elooti,
ka isaan dadeen firinxiixanuu ti;
ijoolleen Xiyoonii,
mootii ifitiin gammadanuu ti.
³ Shubbisaa maqaa isaa faarsanuu ti;
dibbe'ee fi kiraara guddichaan
isaaf faarsanuu ti.

⁴ Mootiin Waan Maraa
kolbaa ifitiin waan gammaduuf,
worra gad ifi qabu,
akka injifatanu godhee ulfinna kennaaf.

- ⁵ Kolbaan isaa,
 ulfinna kanaan firinxiixanuu ti;
 taqee ifii irralle'etti,
 ililleetti'iin faarfatanuu ti.
- ⁶ Leellisi Waaqaa afaan isaanii keessa,
 shallaagaan qara lamaa,
 harka isaanii keessa jiraatuu ti.
- ⁷ Gosa biyya adda addaa haluu bayiisaaf,
 kolbaa hedduulle adabiisaaf,
⁸ mootota isaanii wodaroo sibiilaatiin,
 qondaaltota isaaniille,
 sibiila miilaan hidhanuun hidhiisaaf,
⁹ muraa barreeffanteertu,
 isaan irratti muunmmessiisaaf,
 tun kolbaa isaaf addatante maraaf ulfinna.
 Mootii Waan Maraa leellisa'a.

150

Mootii Waan Maraa Leellisa'a

- ¹ Mootii Waan Maraa leellisa'a!
- Addee Woyyittii isaa keessatti,
 Waaqa leellisa'a!
 Ol-gubbaa isaa hunnaamettii keessatti,
 isa leellisa'a!
- ² Hujii jadduu inni godheef isa leellisa'a.
 Guddinna isaa,
 ka waan mara caaluuf isa leellisa'a.
- ³ Tultulla'aan isa leellisa'a.
 Kiraara guddichaa fi
 maseenqo'oon isa leellisa'a.
- ⁴ Dibbe'ee fi shubbisiisaan isa leellisa'a.
 Kiraaraa fi suusulle'een isa leellisa'a.
- ⁵ Sibiila wolitti dhowamee qilillisuun,
 isa leellisa'a.
 Sibiila wolitti dhowamee,
 akka malee qilillisuun isa leellisa'a.
- ⁶ Wonni hafuura baafatu martinuu
 Mootii Waan Maraa leellisanuu ti!

Mootii Waan Maraa leellisa'a!

Kitaaba Fakkeenaa Seensa

Kitaab fakkeenaa seera ittiin bulmaataatii fi barsiisa dhugeeffanna'aa ka haala jedhi'iitii fi fakkeennaatiin wolitti qabameeru. Hedduun isaanii waanuma nami guyyuma guyya'aan huju ifi keessaa qaban. Kitaab kun «Qarummaan jalqabaa Mootii Waan Maraa sodaatiisa» ka jedhu yaadachiisiisaan jalqaba. Achiin duuba waan hamilee dhugeeffanna'aa qofa dubbatiisa adoo hin te'in, gara yaada wolii galaatii fi amala dansa'aalle hin dabara. Jedhiin kitaaba kanaa hedduun beekkumsa barsiisota Israa'elootaa ta durii durii marroo waan nami qaroon haala adda addaa keessatti hujuu mudhisan. Isaan kana keessaa gariin marroo firooma maati'ii, ka dhibiin marroo hujii dhibi'ii dubbatan. Gariin waan tokkummaa kolbaa keessaa, kuun barbaachisummaa ifi toowatiisaa dubbatan. Bacaan isaanii marroo gadhi-laafinnaa, marroo ossataa, marroo hiyyeeyyii kabajiisaatii fi marroo jaalotaaf addatamiisaa dubbatan.

Haadhoo Dubbi'ii

Qarummaa Leellisiisa 1:1–9:18

Fakkeenaa Solomoonii 10:1–29:27

Jechoota Aguurii 30:1-33

Jedhii adda addaa Hedduu 31:1-31

Bu'aa Fakkeenaa

¹ Fakkeenni Solomoonii ilma Daawitii, ka mootii Israa'elii ka asii gad jiranu:

² Isaan kun namooti qarumma'aa fi qajeelfama dansaa akka fudhatanu, jechoota beekkumsa ifi keessaa qabanu, akka hubatanu,

³ balchumma'aa fi haqaan, waan dhugaa te'e godhiisaan, amala qarumma'aatiin qajeelfama akka fudhatanu,

⁴ worri beekkumsaan hin bilchaatin, hubantii akka qabaatanu, dargaggooti beekkumsaa fi, qalbii akka qabaatanu qarqaaran.

⁵ Worri qarooleen fakkeenaa kana caqasane, barumsa ifii itti ede'atanuu ti; worri hubantii qabanulle qajeelfama irraa fudhatanuu ti.

⁶ Akka kanaan isaan fakkeenaa fi mammaassa, hiikkaa jedhi'iitii fi hiibboo worra qaroole'eelle hin hubatan.

Gorsa Dargaggeeyyi'iif Kenname

⁷ Qarummaan jalqabaa, Mootii Waan Maraa sodaatiisa; gowwooleen ammoo, qarumma'aa fi gorsa tuffatti.

⁸ Ilma kiyya, gorsa abbaa keetii dhage'i; barsiisa haadha teetiille hin lakkisin

- 9 Barsiisi isaanii,
mataa keetiif akka kallacha ulfinnaa ti;
morma keetiifille,
akka meya seesaaf diramee ti.
- 10 Ilma kiyya,
cubbaaleyyiin yoo si hawadatte,
tole hin jedhiniif.
- 11 Isaan yoo, «Nu waliin koy;
dhiiga namaa dhangalaasiisaaf
dhokannee gaadanna;
nama yakkaa hin qanne,
sababa malee miidhiisaaf kara'atti eeganna!
- 12 Akka addee worri du'e jiru,
akka worra gara boolla awwaalaa gad bu'uu,
adoo isaan jiru'uu fi fayya'aan jiranuu,
kowaa isaan liqinsinaa ti!
- 13 Nuuti meya gatii guddo'oo
ka gosa adda addaa hin dhagganna;
mana keennalle
waan saamanneen
hin guutanna!
- 14 Koy nu waliin hirmaadhu;
waan hannaan fudhanne
waliin qoodanna»
yoo si'iin jedhane,
- 15 Ilma kiyya, isaan waliin hin deemin;
daandii isaanii irraa miila keeti eeggadhu.
- 16 Miilli isaanii gara cubbu'uu rukkisa;
isaan dhiiga dhangalaasiisaaf ariifatan.
- 17 Adoo sinbirree dhaggituu
fonxorroo itti afuun,
bu'aa hin qaddu.
- 18 Namooti kun dhiiguma ifii
dhangalaasiisaaf dhokataneen gaadan;
isaan ifuma dhokataneen gaadan.
- 19 Muummeen worra joljooluu akkas jirti;
joljolummaan isaan ijeetti.

Waamicha Qarumma'aa

- 20 Qarummaan woldeennaa
kara'aa keessaa iyyitee waammatti;
badhinna keessaa qoonqoo ol qabatee iyyiti.
- 21 Karaa namooti hogisanu keessaa iyyiti;
seensuma qacha'aa keessaa dubbatti:
- 22 Isiin, «Isin worri gowwooleen,
haga yoomii,
gowwummaa teessan jaalattan?
Isin worri murgaameyyiin,
haga yoomii,
murgoo teessanitti gammaddan?
Isin worri gowwooleen,
haga yoomii beekkumsa jibbitan?
- 23 Isin xixicha kiyya yoo dhageettane,

- ani silaa waan gadhaa kiyya keessa jiru,
yaada kiyya akka beettanu hin godhaayyu.
- 24 Isin ammoo,
yennaa ani waamu eega diddanee,
yennaa ani harka kiyya diriirsu,
eega itti hin xiyyeeffatinii,
25 isin gorsa kiyya mara tuffatane,
xixicha kiyyalle eega hin fudhatinii,
26 yennaa isin farra keessa jirtanu,
anille isinitti hin kolla.
Yennaa balaan isinitti bu'u
ani isinitti hin murga.
- 27 Yennaa wonni hantuun,
akka bubbee bokkeyaa isinitti dhuttu,
yennaa balaan akka hobonbolatti'ii isin haxowu,
yennaa dhippinnii fi rakkinni isin irra garagalu,
ani isinitti murga.
- 28 Yennaa san isin na hin waantan;
ani ammoo deebii isiniif hin kennu;
Isin akka malee na barbaaddan,
ammoo na hin dhaggitanu.
- 29 Isin beekkumsa Waan jibbitaneef,
Mootii Waan Maraa sodaatiisa,
waan hin filanneef,
- 30 Isin gorsa kiyya waan hin fudhatiniif,
xixicha kiyya mara waan tuffataneef,
31 isin midhaanuma hujattane hin nyaattan;
bu'aa mala nama irratti
dhoottane hin dhaggatan.
- 32 Worra beekkumsaan hin bilchaatin
qarummaa irra fagaatiisatti ijjeesa;
gowwooleelle rincica isaaniititti,
isaan balleessa.
- 33 Worri na dhage'u ammoo,
nageyaan le'a;
waan hantuu adoo hin sodaatin,
bidhaa malee jiraata» jetti.

2

Eebba Qarummaa Irraa Dhaggamu

- 1 Ilma kiyya, jecha kiyya yoo fudhatte,
ajaja kiyyalle qalbii teeti keessatti yoo bulfatte,
2 gurra keeti gara qarummaa'aa yoo qabatte,
gadhaa keetille gara hubanti'ii yoo deebifatte,
3 beekkumsa guddaa yoo waammatte,
hubanti'iif qoonqoo ol qabatee yoo iyyite,
4 akka meeti'ii yookiin akka qabeenna dhoffameeruu,
qarummaa yoo barbaadde,
5 ati Mootii Waan Maraa sodaatiisa hin hubatta;
beekkumsa Waaqa beekiisalle hin dhaggatta.
- 6 Mootiin Waan Maraa, qarummaa waan namaa kennuuf,
beekkumsii fi hubantiin isa biraa dhufan.
- 7 Inni worra qajeela'aaf, qarummaa kenna;

- worra komii hin qanneefille, wontee isaaniif te'a.
- ⁸ Inni daandii haqaa hin toowata;
karaa worra isaaf addatamuulle hin eega.
- ⁹ Achiin duuba ati balchumma'aa fi haqa,
waan dhugaa te'ee fi daandii dansaa mara hin hubatta.
- ¹⁰ Qarummaan gara qalbii teetii waan dhuttuuf,
beekkumsi si gammachiisa.
- ¹¹ Qalbeeffatiis si hin eeddi; hubatiisille si hin toowatti.
- ¹² Qarummaan karaa worra hama'aa irraa,
worra dubbii micciiru irraa si hin dhooggiti;
¹³ worri akkasii kun karaa dukkanaa ideemiisaaf,
daandii qajeelaa worra lakkisu;
¹⁴ waan hantuu godhiisatti worra gammadu;
micciiramummaa hamaaleyyi'ititti
worra firinxiixu;
¹⁵ karaan isaanii micciirama'a;
ideensi isaaniille daddaba'a.
- ¹⁶ Qarummaan dubartii gaarayyeeffattuu,
ta jechoota gammachiisuun nama qaxafattu
jalaa si baachi.
- ¹⁷ Dubartiin tun dhirsa dargagumma'aan
heerumte lakkittee,
waadaa Waaqa duratti galte deeteerti.
- ¹⁸ Manni isi'ii gara du'aa,
daandiin isi'ii gara eker'a'aa geessa.
- ¹⁹ Worri gara isi'ii dhaqu hin deebi'u
yookiin daandii jiru'uu hin dhaggatu.
- ²⁰ Maarre ati karaa namoota dansa'aa
hin ideenta; daandii balchootaa irraa
akka hin gorre hin eegatta.
- ²¹ Worri qajeelaan lafa irra hin le'an;
worri yakkaa hin qannelle
isii keessatti hin hafan.
- ²² Worri hamaan ammoo lafa irraa hin bada;
worri hin addatanne isii irraa hin buqqa'a.

3

Gorsa Dargaggootaaf Kenname

- ¹ Ilma kiyya, waan ani si barsiisu hin dedhin;
ajajoota kiyya gadha'atti qabadhu.
- ² Isaan guyyoota sii ede'anee,
woggoota hedduu si leesisan;
qananumma'aa fi nageya sii kennan.
- ³ Mararti'ii fi addatamummaa ijjumaa hin lakkisin;
morma keetitti hidhadhu;
gadhaa keeti keessatti qabadhu.
- ⁴ Achiin duuba ati Waaqaa fi nama duratti
fudhatamaa fi maqaa dansaa hin dhaggatta.
- ⁵ Gadhaa tokkochaan Mootii Waan Maraatitti addadhu;
hubantii teetitti hin irkatin.
- ⁶ Karaa keeti maraan isa beeki;
inni daandii teeti si'iif hin qajeelcha.

- 7 «Ani qaro'o!» ifiin hin jedhin;
Mootii Waan Maraa sodaadhu;
waan hantuu irraa fagaadhu.
- 8 Kun nafa keetiif fayyaa,
lafee teetiifille jabeenna hin te'a.
- 9 Qabeenna keetiin,
midhaan keeti mara keessaa mataa kenniisaan,
Mootii Waan Maraatiif ulfinna kenni.
- 10 Achiin duuba gootaraan keeti
midhaaniin hin guutama;
daadhiin teeti waabaa guutantee irra hin danbalaati.
- 11 Ilma kiyya, qajeelcha Mootii Waan Maraa hin tuffatin;
xixicha isaalle hin jibbin.
- 12 Abbaan ilma itti gammadu akkuma qajeelchu,
Mootiin Waan Maraalle nama jaalatu qajeelcha.
- 13 Nami qarummaa dhaggatu,
ka hubantii qabu ka gammade.
- 14 Qarummaan meetii caalaa bu'aa qaddi;
worqii caalaalle fayyaddi.
- 15 Qarummaan dooqa gatii guddo'oo caalaa gatii qaddi;
waan ati halchitu keessaa ka isi'iin qixxawu hin jiru.
- 16 Harka isi'ii middicha keessa
jiruu dheertu'utti jira;
harka isi'ii bitaacha keessa
durumma'aa fi ulfinnatti jira.
- 17 Karaan isi'ii karaa gammadaa ti;
daandiin isi'ii daandii nageyaa ti.
- 18 Isiin worra jabeessee isii qabateef,
muka jiru'uu ti;
worri jabeessee isii qabate hin gammada.
- 19 Mootiin Waan Maraa qarummaa ifitiin lafa dade;
hubantii ifitiin ol-gubbaa jabeessee dhaabe.
- 20 Beekkumsa isaatiin
qileen abbaayotaa gargar dayyaate,
duumensille tiifuu tiife.
- 21 Ilma kiyya, qarumma'aa fi qalbeeffata jabeessii qabadhu;
isaan ila teeti duraa hin gorin.
- 22 Isaan si'iif jiruu,
morma keetiifille seesa hin te'an.
- 23 Achiin duuba ati nageyaan
karaa keeti hin deenta;
miilli keetille hin gufatu.
- 24 Yennaa irkattu hin sodaattu;
yennaa rattulle
hirriibi keeti mi'owaa hin te'a.
- 25 Yennaa balaan
dedhuma worra hamaa irra dhaqqabu,
ati hin sodaattu.
- 26 Mootiin Waan Maraa addii waan sii te'uuf,
miila keeti tiyyoo irraa hin eega.
- 27 Worra wonni dansaan malteef,
waan dansaa godhiisaaf adoo dandeettuu,
waan dansaan godhiisa hin lakkisin.

- 28 Adoo harkaa qadduu, «Boru sii kennaatii,
deebi'ii koy!» namaan hin jedhin.
- 29 Nama si addatee si bira tee'u irratti
waan hantuu hin yaadin.
- 30 Adoo nami si hin miidhin,
akkasumaan nama hin himatin.
- 31 Nama hunnaan nama irratti ka'u hin halchin;
karaa isaa tokkolle hin filatin.
- 32 Sababille Mootiin Waan Maraa
nama micciiramaa jibba;
nama qajeelaa ammoo guddoo jaalata.
- 33 Mootiin Waan Maraa
mana worra hama'aa hin abaara;
mana worra balcha'aa ammoo hin eebbisa.
- 34 Mootiin Waan Maraa worra murgutti hin murga;
worra gad ifi qabuuf badhaadha hin kenna.
- 35 Worri qarooleen ulfinna hin dhaggatan;
worri gowwooleen ammoo hin salphatan.

4

Bu'aa Qarummaa Irraa Dhaggamu

- 1 Ilmaan tiyya, gorsa abbaa keessanii caqasa'a;
itti xiyyeeffadha'aatii,
hubantii dhaggadha'a.
- 2 Ani barsiisa kiyya dansaa isiniif kenna;
maarre isin barsiisa kiyya hin lakkisina'a.
- 3 Yennaa ani mana abbaa kiyyaatitti mucaa diqqa'aa,
haadha tiyyaaf ilma tokkochaa san,
4 abbaan kiyya na barsiisee,
«Jecha kiyya mara
gadhaa tokkochaan qabadhu;
hin leetaa,
ajaja kiyya eegadhu.
- 5 Qarummaa dhaggadhu;
hubantii qabaadhu;
jecha kiyya hin dedhin
yookiin irraa hin deebi'in.
- 6 Qarummaan gollaa sii teetii,
isii hin dedhin;
si eeddiitii,
isii jaaladhu.
- 7 Qarummaan waan mara caalti;
tanaaf isii dhaggadhu.
Waan ati qaddu mara si kaffalchiittulle,
hubantii bitadhu.
- 8 Ulfina isi'iif kenni;
isiille ol si qaddi;
isii hanqafadhu;
isiille ulfinna si'iif hin kenniti.
- 9 Isiin daraaraa seesaaf wolitti hidhame,
mataa keeti irra hin keetti;
kallacha dansaa si'iif hin kenniti» jedhe.
- 10 Ilma kiyya caqasi;

- barri le'ii teetii akka heddatu,
jecha kiyya fudhadhu.
- 11 Ani karaa qarumma'aa si barsiiseera;
daandii qajeelaa irra
si sooresseera.
- 12 Yennaa ideentu karaan sitti hin dhiphatu;
yennaa rukkittulle hin gufattu.
- 13 Gorsa sii kenname jabeessii qabadhu;
gad hin lakkisin;
jiruu teeti waan te'eef,
midhassii eegadhu.
- 14 Daandii worra hama'aa hin hordofin
yookiin karaa worra hantuu hujuu irra hin deemin.
- 15 Karaa san irraa fagaadhu;
irraa deebi'iitii,
karaa keeti deemi.
- 16 Isaan haga waan hantuu godhanutti
dande'anee hin rafanu;
haga nama dokonkorsanutti
foora hin qabanu.
- 17 Isaan sagalee hammeennaa nyaatan;
daadhii woyni'ii
ta hunnaan nama irratti ka'iisaa unan.
- 18 Daandiin balchoole'ee akka ifa barii ganamaa,
ka haga orra'aatitti
ifaatuma ideemuu ti.
- 19 Daandiin worra hama'aa ammoo
akka dukkana dimmaa ti;
isaan waan isaan gufachiisu hin beekanu.
- 20 Ilma kiyya waan ani jedhutti xiyyeeffadhu;
jecha kiyya midhassii caqasi.
- 21 Isaan ila teeti duraa hin gorin;
gadhaa keeti keessatti qabadhu.
- 22 Isaan worra isaan dhaggatuuf jiru'u;
nafa isaanii maraaf fayyinna.
- 23 Maddi jiruu teetii qalbii waan teeteef,
waan mara caalaa
qalbii teeti eegadhu.
- 24 Dubbii micciiriisa afaan keeti irraa fageessi;
dubbii malaamaltumma'aa irraa
hidhii teeti eegadhu.
- 25 Ilti teeti gara fuula duraa
qajeelaa ilaaltuu ti;
ifiin dura gofa ilaali.
- 26 Daandii miilli keeti irra deemu,
wol qixxeeffadhu.
Karaan keeti dansaa te'uu ti.
- 27 Gara middaa yookiin gara bita'aa hin gorin;
miila keeti waan hantuu irraa eegadhu.

5

Gaarayyeeffatiisa Irraa Fagaatiisa

- 1 Ilma kiyya, qarummaa tiyyatti xiyyeeffadhu;

- gara hubantii tiyyaa gurra keeti deebifadhu.
- ² Yoo tana goote waan hantu'uu fi
dansaa gargar hin baafatta;
dubbiin teetille beekkumsa hin mudhitti.
- ³ Hidhiin dubartii gaarayyeeffattuu nadhii coccossiti;
dubbiin isi'ii zayitii caalaa lallaatti;
⁴ dhuma irratti ammoo akka hargiisaa hadhootti;
akka shallaagaa qara lamaa
qara qaddi.
- ⁵ Miilli isi'ii gara du'aa deema;
ijjati isi'ii daandii
gara addee worri du'e jiru geessa.
- ⁶ Isiin karaa jiru'uu hin yaadattu;
karaan isi'ii daddaba'a;
ammoo isi'itti hin beekkamu.
- ⁷ Amma ilmaan tiyya,
na caqasa'a;
jecha afaan kiyyaa irraa hin gorina'a.
- ⁸ Karaa keeti isii irraa fageessi;
qarqara balbala mana isi'iititti hin dhikaatin.
- ⁹ Yoo tana godhuu dhabaatte,
ulfinna keeti namoota dhibi'iif,
jiruu teetiille
nama marartii hin qannetti hin kennita.
- ¹⁰ Karra teetille alagaan hin fudhata;
eloon teetille mana ormaa hin duroonsiti.
- ¹¹ Foon keetii fi nafi keeti yennaa dhumate,
muummee jiruu teetiititti hin aadda;
¹² ati, «Hayii, ani maaf gorsa jibbe?
Gadhaan kiyya maaf qajeelfama tuffate?
- ¹³ Ani barsiisota tiyya hin caqanne;
gurra kiyya gara worra na gorsuu hin deebifanne.
- ¹⁴ Wolde'a kolba'aa duudii keessatti,
badii guddoo biraan baye» hin jetta.
- ¹⁵ Niitii teeti akkuma boolluma bisaanii keetii fi
baleessuma keetii, achuma keessaa uni.
- ¹⁶ Maddi keeti diidatti,
bisaan lagaa keeti
karaa keessatti dhangala'uu qabaa ree?
- ¹⁷ Isaan si gofaaf te'anuu ti;
alagaa woliin hin qoodamin.
- ¹⁸ Maddi keeti ka eebbifame te'uu ti;
niitii teeti ta qeedhumma'aan fuute woliin firinxiixi.
- ¹⁹ Isiin jaalatantuu akka gadansaa,
biifa qabeettii
akka jiliba'aa
sii teetuu ti.
Harmi isi'ii yennaa mara
dheebuu si baasuu ti;
jaalala isi'iitiin
yennaa mara machowi.
- ²⁰ Ilma kiyya,
maaf dubartii gaarayyeeffattu'uun machootta?

Maaniif qoma dubartii nama dhibi'ii hanqafatta?

- ²¹ Hujiin namaa Mootiin Waan Maraa duratti ifa;
inni daandii namaa mara dhagga.
²² Nami hamaan hujuma ifitiin tiyyoo seena;
cubbuma ifitiin qabama.
²³ Inni qajeelfama waan dhabeef du'a;
gowwummaa guddoo ifitiin
karaa irraa miliqa.

6

Gowwummaa Irraa Ifi Eggatiisa

- ¹ Ilma kiyya, namaaf wobii yoo teete,
marroo nama dhibi'iitiif
harka wol dhowatiisaan
waadaa yoo galte,
² woma dubbatteen tiyyoo yoo seente,
jechuma afaan keetii bayeen yoo qabante,
³ ilma kiyya, harka nama sanii waan seenteef,
ifi baasiisaaf,
gara nama sanii dhaqiitii,
gad ifi qabi;
akka inni wobummaa san si irraa buusuuf
isa gaafadhu.
⁴ Adoo tana hin godhin hin rafin;
hirriibi ila teeti irra hin marin.
⁵ Akka gadansi worra adansu jalaa,
sinbirreen tiyyoo jalaa miliqanu,
atile ifi baasi.
⁶ Ati namicha booseya,
me dhaqiitii mixaa dhukkulle ilaali;
mala isaa ilaaliitii qaroo te'i.
⁷ Isaan soorressa,
toowataa yookiin bulchaa hin qabanu;
⁸ te'uu malee sagalee ifi ta bonaa,
waan isaaniif barbaachisu
yennaa midhaan galu keessa wolitti qabatan.
⁹ Ati namichi boosenni
haga yoomii achi ratta?
Ati yoom hirriibaa kaata?
¹⁰ Ati diqqoo adoo rattuu,
diqqoo adoo mudduu,
foorfatiisaafille
diqqoo adoo harka wol irra naqattuu,
¹¹ hiyyummaan akka saantu'uu,
akka nama meya woraanaa hidhatee,
sitti hin dhufa.
¹² Nami gadhe'ee fi nami hamaan,
ka dubbii micciiraa asii fi achi deemu,
¹³ ka ilaan qiphifatu,
ka miilaan beessisa kennu,
ka qubaan akeeku,
¹⁴ ka gadhaa ifi keessatti

- mala hamaa dhowu,
yennaa mara lola kaasa.
- 15 Tanaaf balaan dedhuma isatti hin bu'a;
yoosuma cabiisa hin fayyine caba.
- 16 Wonni jaa ta Mootiin Waan Maraa jibbu,
torbeessoon ta inni dhiqatu jiran;
17 isaan kun ila tuffi'ii,
arraba dharaa,
harka dhiiga worra yakkaa hin qannee dhangalaasu,
18 gadhaa waan hantuu yaadu,
miila gara waan hantu'uu fiigu,
19 nama dharaan nama irratti dhugaa bayu,
ka obboleeyyan oddu'utti lola kakkaasu.

Gaarayyeeffatiisa Irraa Ifi Eeggatiisa

- 20 Ilma kiyya, ajaja abbaa keetii eegadhu;
barsiisa haadha teetiille hin lakkisin.
- 21 Yennaa mara gadhaa keeti keessa keyadhu;
morma keetille'etti hidhadhu.
- 22 Isaan yennaa ati ideentu
si soressan;
yennaa rattu si eegan;
yennaa ati dammaxxu
si'itti dubbatan.
- 23 Ajaji kun issa'a;
barsiisi kunille ifa;
qajeelfamaan sirreeffamiis
karaa jiru'uu ti.
- 24 Dubartii hantuu irraa,
arraba lallaafaa dubartii
gaarayyeeffatitti'ii irraa si eega.
- 25 Gadhaa keeti keessatti
dansummaa isi'ii hin halchin;
ilti isi'ii si hin booji'in.
- 26 Gatiin dubartii sagaagaltitti'ii
haga xaltaa daabbo'oo ti;
dubartiin gaarayyeeffattuun ammoo
gatii jiruu teetii si kaffalchiitti.
- 27 Nami ibidda boba'atti qabatee,
woyaan isaa adoo hin gubatin
hafuu dandeettu hin jiraa?
- 28 Yookiin nami kashila irra ijatee,
miilli isaa adoo hin gubatin
hafuu dande'u hin jiraa?
- 29 Nami niitii namaa woliin rafulle akkasuma te'a;
nami niitii namaa tuqee
adoo hin adabamin hafu hin jiru.
- 30 Hattichi yennaa beelote,
beela ifii bayiisa qofaaf yoo hate,
nami isa hin tuffatu.
- 31 Yoo qabame ammoo,
qabeenna inni qabu mara gaafattulle,
dachaa torba godhee kaffalaa motii ree?
- 32 Nami gaarayyeeffatu ammoo qalbii hin qabu;

- nami gaarayyeffatu marti ifi balleessa.
³³ Inni mada'aa fi salphinna hin dhaggata;
 qaaniin ijjumaa isa irraa hin baddu.
³⁴ Hinaaffaan abbaa manaa waan aarsituuf,
 inni yennaa haluu bayu
 marartii hin qabu.
³⁵ Inni kaffaltii tokkolle hin fudhatu;
 haga fedhe bacatulle,
 kennansi aarii isaa hin qabbaneessu.

7

- ¹ Ilma kiyya, jecha kiyya eegadhu;
 ajaja kiyya gadhaa keeti keessatti qabadhu.
² Akka leetuuf,
 ajaja kiyya eeggadhu;
 barsiisa kiyyalle
 akka gumaa ila teetii eeggadhu.
³ Akka qube'ee quba keetitti keyadhu;
 gadhaa keeti keessatti barreeffadhu.
⁴ Qarumma'aan, «Ati obboleettii tiyya» jedhi;
 hubantiille'een, «Ati fira kiyya» jedhii waami.
⁵ Isaan dubartii gaarayyeeffattuu,
 ta jechoota gammachiisuun
 nama qaxafattu irraa si eegan.

Soba Dubartii Gaarayyeeffattu'uu

- ⁶ Gaafa tokko ani karaa foddaa
 mana kiyyaatiin ala ilaalee,
⁷ worra yaadaan hin bilchaatin keessaa,
 dargaggoota oddu'uu,
 dargaggeessa qalbii hin qanne tokko dhagge.
⁸ Inni karaa cinaa mana dubartii takkaa geessu gula,
 gara mana isi'ii ideemiisatti jiraayyu.
⁹ Yennaan sun aduun seentee,
 galgala dimimmisa
 halkan dukkana keessa.
¹⁰ Achiin duuba dubartittiin gad isatti baate;
 isiin akka sagaagaltu'uu uffattee
 nama dokonkorsiisaaf mala qaddiiyyu.
¹¹ Isiin ta ila gad hin qabanne,
 mati-jabeetti'i;
 isiin ijjumaa mana hin teettu.
¹² Takka karaa irra,
 takka woldeennaa kara'aa irra
 cinaa karaa maraa irra
 dhaabbattee eeggatti.
¹³ Isiin isa qaddee,
 sunqattee, fokkoo malee, isaan,
¹⁴ «Ani kennansa tokkumma'aa qaba;
 adha waan waadaa gale muummesseera.
¹⁵ Maarre ani si fudhatiisaaf gad baye;
 ani si dhaggiisaaf dharra'eeruun,
 kunoo si dhagge.

- 16 Ani woyaa quncee talba'aa
ta biyya Gibxi'iititti seefantee hujante,
taqee tiyya irra afeera.
- 17 Taqee tiyyatti fiqiree, qumbii,
dakkaraa fi qurunfudii irraa hujante itti biifeera.
- 18 Koy, haga latti bariitutti
jaalala keenna dheebuu baanaa ti;
jaalalaan ifii gammachiinnaa ti.
- 19 Dhirsii kiyya mana hin jiru;
inni fagoo deemeera.
- 20 Inni beesee guddoo
fudhatee deemeera;
haga ji'i goobanutti
deebi'ee hin galu» jette.
- 21 Isiin jechoota gammachiisuun
karaa irraa isa gorsite;
dubbii damma dibiisaan
isa dokonkorsite.
- 22 Yoosuma inni akka sangaa gara qalamu deemuu,
akka gadansa
gara fonxoro'oo deemuu,
isii gula deeme.
- 23 Haga daayi tiruu isaa woraanutti,
akka sinbirreen kaatee tiyyoo seentu,
innille wonni kun
lubbuu isaatitti akka dhuttu hin beenne.
- 24 Ammalle ilmaan tiyya,
na caqasa'a;
waan ani jedhulle
itti xiyyeeffadha'a.
- 25 Gadhaan keessan gara karaa isi'ii hin deebi'in;
daandii isi'ii gula ideentanee
karaa irraa hin gorina'a.
- 26 Isiin namoota hedduu madeessitee jissiteerti;
namoota bindillaalle ijjeetteerti;
- 27 Manni isi'ii karaa addee worri du'e jiru,
ka gara awwaalaa gad geessu.

8

Waamicha Qarumma'aa

- 1 Qarummaan hin waantuu ree?
Hubantiin goonqoo ol hin qabattuu ree?
- 2 Isiin kooba karaa biraa gubbaa,
addee qaxxaamura kara'aa dhaabbatti.
- 3 Karra gara qacha'aa seenanu biraa,
addee seensuma qacha'aatii,
goonqoo ifii ol qabattee iyyaa,
- 4 «Ee namoota, ani isin waama;
goonqoo tiyya ol qabadhee
ilmaan namaa mara waama.
- 5 Isin worri hin bilchaatin qarummaa qabaadha'a;
isin worri gowwaan hubantii qabaadha'a.

- 6 Ani waan bu'aa qabu dubbataaraa caqasa'a;
 waan sirrii te'e dubbatiisaaf
 afaan kiyya saaqadha.
- 7 Afaan kiyya dhugaa dubbata;
 arrabi kiyya waan hantuu jibba.
- 8 Jechooti afaan kiyyaa marti haqa;
 isaan keessaa daddabaan
 yookiin micciiramaan hin jiru.
- 9 Worra hubantii qabuuf,
 marti isaaniituu ifa;
 worra beekkumsa qabuuf dokonkora hin qabu.
- 10 Meetii caalaa gorsa kiyya,
 worqii qulqulluu caalaalle beekkumsa filadha'a.
- 11 «Qarummaan dooqa diimaa waan caaltuuf,
 wonni ati halchitu marti isii woliin
 wol hin qixxoottu.
- 12 «Ani qarummaan,
 malaammessummaa woliin jiraadha;
 beekkumsii fi qalbeeffatiis kiyya.
- 13 Mootii Waan Maraa sodaatiis
 waan hantuu jibbiisa;
 ani kooraa fi bondhooriisa,
 karaa hama'aa fi dubbii micciirantuu jibba.
- 14 Gorsii fi muraan haqaa tiyya;
 ani hubanti'ii fi hunnalle hin qaba.
- 15 Moototi anaan mootii te'an;
 bulchitootille anaan seera haqaa baasan.
- 16 Bulchitooti,
 qondaaltoti biyya bulchanu martinuu
 anaa biyya bulchan.
- 17 Ani worra na jaalatu hin jaaladha;
 worri na barbaadatu na hin dhagga.
- 18 Durumma'aa fi ulfinni,
 qabeenni hin dabarree fi milkiin na bira jiran.
- 19 Midhaan kiyya
 worqii qulqulluu caala;
 kennansi kiyya meetii qullittii caala.
- 20 Ani karaa balchumma'aa irra,
 daandii haqaa irra ideema.
- 21 Worra na jaalatuuf
 qabeenna hin kenna;
 gootaraa isaaniille hin guuta.
- 22 «Mootiin Waan Maraa,
 hujii ifii ta durii durii san maraan dura,
 ana qarummaa dade.
- 23 Jalqaba bara durii durii,
 biyyi lafaa adoo hin dadamin ani muudame.
- 24 Yennaa abbaayaan gugurdoon hin jirre,
 yennaa maddi bisaaniituu hin jirre ani dhaladhe.
- 25 Gaarotaa fi kooboti adoo hin dadamin dura

- ani dhaladhe.
- ²⁶ Waaqi lafa yookiin diida adoo hin dadin dura,
yookiin biyyee biyya lafaa takkaalle adoo hin dadin
ani dhaladhe.
- ²⁷ Yennaa inni abbaaya'aan gubbaa ol-gubbaa diriirse,
ani achi jiraayyu.
- ²⁸ Yennaa inni gubbaa irratti duumensa dade,
yennaa inni madda abbaaya'aa dade,
²⁹ bisaan ajaja isaa irra akka hin dabarre,
yennaa inni meessaa abbaayota gugurdo'oo tolche,
yennaa inni meessaa hundee lafaa tolche,
ani achi jiraayyu.
- ³⁰ Ani yennaa san akka ogeessa guddichaa te'ee,
isa waliin achi jiraayyu.
Ani yennaa mara isa duratti gammadaa,
guyyuma guyya'aan
isa gammachiisaa tureeyyu.
- ³¹ Ani biyya lafaa ta isaa duudi'iin firinxiixaa,
nama maraan gammadaa tureeyyu.
- ³² «Ammalle ilmaan tiyya, na caqasa'a;
worri karaa kiyya eegatu ka gammade.
- ³³ Gorsa kiyya caqasa'aatii,
qaroo te'a'a;
gorsa kiyya cadhittanee hin ilaalina'a.
- ³⁴ Nami na caqasu,
ka guyyuma guyya'aan
balbala tiyya duratti dammaqee,
karaa balbala tiyyaa duratti na eegatu
ka gammade.
- ³⁵ Nami na dhaggatu jiruu dhaggata;
Mootii Waan Maraa biralle'etti
fudhatama qabaata.
- ³⁶ Nami na dhabu ifi miidha;
nami na jibbu marti du'a jaalata» jetti.

9

Qarumma'aa Fi Gowwummaa

- ¹ Qarummaan mana ifii ijaarratteerti;
isiin utuboota mana ifii torba
boccee dhaabbatteerti.
- ² Isiin horii qaltee,
daadhii woyni'ii naxxee,
sagaleelle qopheessiteerti.
- ³ Qachaa keessa kooba irra dhaabbatane,
akka waamanuuf,
isiin dubartoota tajaajiltoota ifii ergitee,
- ⁴ «Nami yaadaan hin bilchaatin marti
as kowa'aa seena'a!» jetti;
worra qalbii hin qannelle'een,
- ⁵ «Kowa'a, sagalee tiyya nyaadha'a;
daadhii ani naqelle una'a.

- 6 Isin jiru'uun hin jiraattaniitii,
karaa gowwumma'aa lakkisa'a;
karaa hubanti'ii irra ideema'a» jetti.
- 7 Nami murgaamessa gorsu,
arraba fudhata;
nami nama hamaa xixu qaanii ifitti fida.
- 8 Nama murgaamessa yoo gorsite si hin jibba;
nama qaroo yoo xixxe si hin jaalata.
- 9 Nama qaroo gorsi
inni irra caalaa qaroo hin te'a;
nama balchaa barsiisi,
inni beekkumsa itti hin ede'ata.
- 10 Qarummaan jalqabaa Mootii Waan Maraa sodaatiisa;
Woyyicha san beekiisi hubantii dhaggatiisa.
- 11 Qarummaan bara jiruu teetii hin baceessiti;
woggoota jiruu teetii itti sii edeeti.
- 12 Qaroo yoo teete,
bu'aan isi'ii teetuma;
ati yoo murgaamessa teete ifuma miita.
- 13 Dubartiin gowwittiin dubbattitti'i;
isiin daalle'e;
beekkumsa hin qaddu.
- 14 Isiin qachaa keessa kooba irra,
balbala mana ifii dura barcumaa irra teetti.
- 15 Worra karaa san dabaru,
ka qajeelee karaa ifii deemu waantee,
- 16 «Isin worri yaadaan hin bilchaatin,
as gora'a» jetti;
worra qalbii hin qannelle'een,
- 17 «Bisaan hanna hin mi'owa;
sagaleen dhokaataan nyaatanu,
hin kurootti» jetti.
- 18 Isaan ammoo worri du'e akka achi jiru,
worri isiin waantelle,
qilee addee worri du'e jiruu keessa
akka jiranu hin beekanu.

10

Fakkeenaa Solomoonii

- 1 Fakkeenni Solomoonii
ka asii gad jiru:
ilmi qaroon abbaa ifii gammachiisa;
ilmi gowwaan haadha ifii gaddisiisa.
- 2 Qabeenni karaa hin malleen dhaggame
bu'aa hin qabu;
balchummaan ammoo
du'a jalaa nama baatti.
- 3 Mootiin Waan Maraa worri balchaan
akka beelotanu hin godhu;
worra hamaa ammoo waan halchane
akka isaan hin dhagganne hin godha.
- 4 Harki boosenni nama hiyyoonsa;
harki jabaatee huju ammoo nama duroonsa.

- 5 Worri yenna'aan midhaan galfatu qaro'o;
worri yennaa midhaan galfatiisaa rafu ammoo
hin salphata.
- 6 Eebbi mataa balchootaa irra jira;
worri hunnaan nama irratti ka'u dubbii dansa'aan
hunnaan nama irratti ka'iisa ifii gollatan.
- 7 Yaadannoon nama balcha'aa eebbaaf hin teeti;
maqaan nama hama'aa ammoo hin dedhama.
- 8 Nami gadhaa ifii keessatti qaro'oo seera fudhata;
nami gowwaan dubbattichi ammoo
gara badi'ii deema.
- 9 Nami haqaan ideemu nageyaan le'a;
nami karaa micciiramaa gula deemu ammoo
hin saaxilama.
- 10 Nami ilaan qiphifatu rakkinna fida;
nami gowwaan dubbattichi ammoo
gara badi'ii deema.
- 11 Afaan nama balcha'aa madda jiru'uu ti;
worri hunnaan nama irratti ka'u ammoo
dubbii dansa'aan
hunnaan nama irratti ka'iisa ifii gollatan.
- 12 Jibbi lola kaasa;
jaalalli ammoo yakkaa mara golla.
- 13 Qarummaan afaan qaroole'ee irra jirti;
adabbiin ammoo dudda
gowwoole'ee irra jirti.
- 14 Qarooleen beekkumsa tuulatti;
dubbiin gowwa'aa ammoo badii fiddi.
- 15 Qabeenni dureeyyi'iif qachaa dalleya dhaka'aa qabu;
hiyyummaan ammoo badii hiyyeeyyi'ii ti.
- 16 Gatiin eloo balcha'aa jiru'u;
bu'aan nama hama'aa adabbi'i.
- 17 Nami gorsa fudhatu karaa jiru'uu namatti mudhisa;
nami xixicha tuffatu ammoo
karaa irraa nama milissa.
- 18 Nami jibba ifii dhoffatu dharaamessa;
nami hamii odeessu gowwa'a.
- 19 Jechoota bacaa keessaa,
cubbuun hin dhabantu;
nami arraba ifii eegatu ammoo qaro'o.
- 20 Dubbiin nama balcha'aa akka meetii qullu'uu ti;
yaadi nama hama'aa ammoo gatii hin qabu.
- 21 Afaan nama balcha'aa nama hedduu areera;
worri gowwaan ammoo
qalbii dhabiisaan du'a.
- 22 Eebbi Mootii Waan Maraa durummaa kenna;
inni rakkinna isi'itti hin dabaluu.
- 23 Nami gowwaan waan hantuu hujiisatti gammada;
nami hubantii qabu ammoo
qarumma'atti gammada.
- 24 Nama hamaa waan inni guddoo sodaatutti itti dhufa;
nama balcha'aa ammoo
waan inni guddoo halchutti isaaf kennama.

- 25 Hobonbolattiin yennaa kaatu,
 worra hamaa haxoottee dabarti;
 worri balchaan ammoo
 haga bara baraa
 jabaatee dhaabbata.
- 26 Wonni dhangaggowu ilkaan,
 aarrille ila akkuma rakkisu,
 nami booseyille
 nama isa ergatu rakkisa.
- 27 Mootii Waan Maraa sodaatiis jiruu dheeressa;
 woggaan nama hama'aa ammoo gabaaddu'u.
- 28 Addiin worra balcha'aa gammada;
 addiin worra hama'aa bu'aa hin qaddu.
- 29 Karaan Mootii Waan Maraa
 worra balcha'aaf gollaa jaddu'u;
 worra hantuu hujuuf ammoo badi'i.
- 30 Worri balchaan ijumaa hin munyuuqu;
 worri hamaan ammoo lafa irratti hin hafu.
- 31 Afaan worra balcha'aa qarummaa dubbata;
 arrabi dubbii micciiru ammoo hin murama.
- 32 Afaan worra balcha'aa dubbii toltu beeka;
 afaan worra hama'aa ammoo micciiriisa qofa beeka.

11

- 1 Mootiin Waan Maraa madaala sobaa jibba;
 dhakaa madaalaa ka sirrii te'etti gammada.
- 2 Koorri yennaa dhufu,
 salphinni hin dhufa;
 gad ifi qabiisaan ammoo qarummaan dhutti.
- 3 Worri qajeelaan komii dhabiisaan qajeelfaman;
 worri hin addatanne ammoo
 maltumma'aan badan.
- 4 Guyyaa mura'aa durummaan bu'aa hin qaddu;
 balchummaan ammoo du'a irraa si hamburti.
- 5 Worra komii hin qanne
 balachummaan karaa isaanii qajeelchiti;
 worri hamaan ammoo
 hammeennuma ifitiin jiga.
- 6 Nama qajeelaa
 balchumma'atti isa baasa;
 worri hin addatanne ammoo
 halchuma ifii hantu'uun qabaman.
- 7 Nami hamaan yennaa du'u,
 addiin isaalle hin baddi;
 durummaan inni addatu
 womaa isaaf hin baatu.
- 8 Nami balchaan rakkoo jalaa hin baya;
 nami hamaan ammoo
 addee isaa rakkinnatti hin gala.
- 9 Nami hamaan dubbii afaan ifitiin nama balleessa;
 nami balchaan beekkumsa ifitiin baya.
- 10 Worra balcha'aaf yennaa milkoottu,
 kolbaan qacha'aa hin firinxiixi.
- Worri hamaan yennaa badu,

- isaan hin ilillisan.
- 11 Eebba worra balcha'aatiin qachaan tokko guddata;
dubbii afaan worra hama'aatiin ammoo hin bada.
- 12 Nami qalbii hin qanne nama tuffata;
nami qalbii qabu ammoo cadhi jedha.
- 13 Nami hamatu dhossaa eegee hin dande'u;
nami addatamaan ammoo dhossaa eega.
- 14 Gorsitooti yoo hin jiraatin
mootummaan takka hin jiddi;
gorsitooti hedduun yoo jiraatte ammoo
nageyaan jiraatti.
- 15 Nami alaga'aaf wobii te'u hin rakkata;
nami wobii te'iisa jibbu ammoo
nageyaan hin jiraata.
- 16 Dubartiin arjaan ulfinna hin dhaggatti;
worri hunnaan nama irratti ka'u ammoo
durummaa qofa dhaggata.
- 17 Gadhi-laafessi
ifumaaf bu'aa dhaggatta;
gadhi-jabeessi ammoo
ifuma miidha.
- 18 Nami hamaan bu'aa isa sobu dhaggata;
nami balchumma'aan huju ammoo
gatii addachiittuu dhaggata.
- 19 Nami dhugumaan balchaa te'e jiru'uun hin le'a;
nami waan hantuu ari'u ammoo hin du'a.
- 20 Mootiin Waan Maraa
worra yaada micciirama'aa jibba;
worra komii hin qannetti ammoo
hin gammada.
- 21 Dhugumaan nami hamaan
adoo hin adabamin hin hafu;
worri balchaan ammoo
adabbii jalaa hin baya.
- 22 Dubartiin shaggittiin qalbii hin qanne,
akka qubee worqi'ii
ta funnaan booyye'ee irra jirtuu ti.
- 23 Halchaan nama balcha'aa
waan dansaa qofaan muummotti;
halchaan nama hama'aa ammoo
mufi'iin muummotti.
- 24 Nami gariin toluma karra ifii namaaf kenna;
ammoo irra caalaa duroomaa deema;
nami gariin akka malee donnooma;
ammoo hiyyoommataatuma deema.
- 25 Nami arjaan hin durooma;
nami dheebuu nama baasulle
ifille'eef dheebuu hin baya.
- 26 Nama midhaan kuufatee tursu
kolbaan hin abaarti;
nami midhaan baasee
gurguratu ammoo
eebba dhaggata.
- 27 Nami waan dansaa jabaatee barbaadu,

- waan dansaa dhaggata;
 nami waan hantuu barbaadu ammoo
 waan hantuu dhaggatta.
²⁸ Nami durummaa ifititti addatu hin jiga;
 nami balchaan ammoo
 akka baala jiidha'aa hin bisila.
²⁹ Nami maatii ifii rakkisu,
 harka duwwaa hin hafa;
 gowwaan tajaajilaa qaro'oo hin te'a.
³⁰ Hujiin nama balcha'aa
 muka jiru'uu ti;
 nami barsiisee lubbuu namaa deebisu qaro'o.
³¹ Worri balchaan lafa irratti
 gatii hujii ifii akkuma dhaggatanu,
 worri Waaqa malee le'uu fi
 worri cubbaaleyyiille lafa irratti akkasuma
 gatii hujii ifii hin dhaggatan.

12

- ¹ Nami qajeelfama jaalatu,
 beekkumsa jaalatta;
 nami xixicha jibbu ammoo gowwa'a.
² Nami dansaan Mootii Waan Maraa biratti
 fudhatama hin dhaggata;
 worra yaada hama'aa ammoo
 Mootiin Waan Maraa itti hin mura.
³ Nami karaa hama'aan jabaatee dhaabbatuu hin dande'u;
 balchaan ammoo adde'ee hin tacho'u.
⁴ Niitiin qalbeeffattuun dhirsa ifitiif akka kallachaa ti;
 ta isa qanessitu ammoo
 akka dhukkuba lafee nyaatuu ti.
⁵ Yaadi worra balcha'aa yaada haqaa ti;
 gorsi worra hama'aa ammoo nama soba.
⁶ Jechi nama hama'aa dhiiga dhangalaasiisa;
 jechi nama balcha'aa ammoo
 dhiiga dhangalaasiisa jalaa baasa.
⁷ Namooti hamaaleyyiin hin badan;
 deebi'aneelle hin dhaggamanu.
 Maatiin worra balcha'aa ammoo
 jabaatee dhaabbatti.
⁸ Nami akkuma qarummaa ifititti leellifama;
 nami qalbii micciirama'aa ammoo
 hin tuffatama.
⁹ Nama sagalee nyaatu adoo hin qabaatin,
 nama guddaa ifi fakkeessuu mannaa,
 nama ifi gad qabee
 hojjataa te'ee le'u woyya.
¹⁰ Nami balchaan horii ifitiif hin marara;
 nami hamaan
 ammoo yenna mara gadhaa jabaata.
¹¹ Nami jabaatee lafa qotu sagalee baca hin qabaata;
 ka waan bu'aa hin qanne ari'u ammoo gowwa'a.
¹² Nami hamaan waan worri hamaan saame kajeela;

- nami balchaan ammoo horee bacata.
- 13 Nami hamaan jechuma hamaa ifitiin qabama;
nami balchaan ammoo rakkinna jalaa hin baya.
- 14 Nami waan afaan isaa keessaa bayuun
waan dansaa quufa;
akkuma hujii harka ifititti gatii isaaf malte fudhata.
- 15 Nama gowwaa karaan isaa qajeelaa itti fakkaata;
nami qaroon ammoo gorsa caqasa.
- 16 Aariin nama gowwa'aa yoosuma beekkanti;
nami qalbeeffataan ammoo
arraba tuffatee lakkisa.
- 17 Dhugaa bayaan dhugaamessi,
dubbii dhuga'aa dhugaa baya;
dhugaa bayaan dharaamessi ammoo soba dubbata.
- 18 Dubbiin gar-maleen
akka shallaaga'aa nama woraanti;
arrabi nama qaro'oo ammoo nama fayyisa.
- 19 Afaan dhuga'aa haga bara baraa jiraata;
arrabi sobaa ammoo yennaa diqqoo qofa jiraata.
- 20 Gadhaa worra waan hantuu maluu keessa
sobatti jira;
worri waan nageyaa namatti gorsu ammoo
hin gammada.
- 21 Nama balchaa rakkinni itti hin dhufu;
nama hamaa ammoo rakkinni itti bacata.
- 22 Mootiin Waan Maraa afaan dhara dubbatu jibba;
namoota dhugaammeyyi'itti ammoo hin gammada.
- 23 Nami qalbeeffataan beekkumsa ifii dhoffata;
namooti gowwaan ammoo
gowwummaa ifii mudhifatan.
- 24 Nami jabaatee hujatu bulchaa hin te'a;
nami boosenni ammoo
garbicha namaa hin te'a.
- 25 Mami gadhaa namaa keessa yoo jiraate
gad nama qaba;
jechi dansaan ammoo nama gammachiisa.
- 26 Nami balchaan karaa namaaf akeeka;
nami hamaan ammoo karaa irraa nama qaba.
- 27 Nami boosenni foon adamo'oon fideeyyuu
hin bilcheeffatu;
nami jabaatee huju ammoo
waan gatii qabu hin dhaggata.
- 28 Karaa balchumma'aa irra jiru'utti jira;
daandii san irra duuti hin jirtu.

13

- 1 Ilmi qaroon gorsa abbaa ifii hin fudhata;
ilmi murgaamessi ammoo xixicha hin dhage'u.
- 2 Nami waan dansaa afaan isaa keessaa bayu irraa,
waan dansaa dhaggata;
worri hin addatanne ammoo
hunnaan nama irratti ka'iisaaf halchan.
- 3 Nami afaan ifii eegatu,

- jiruu ifii eegata;
ka ifi eegataa hin dubbanne ammoo hin bada.
- ⁴ Nami boosenni hin halcha malee
womaa hin dhaggatu;
nami jabaatee huju ammoo waan halche hin dhaggata.
- ⁵ Nami balchaan dhara jibba;
nami hamaan ammoo qaani'ii fi salphinna fida.
- ⁶ Balchummaan nama yakkaa hin qanne eeddi;
hammeenni ammoo cubbaalessa balleessa.
- ⁷ Nami womaa adoo hin qabaatin
dureessa ifi fakkeessu tokko jira;
ka dhibiin ammoo qabeenna guddaa adoo qabuu
hiyyeessa ifi fakkeessu tokko jirra.
- ⁸ Nami dureessi karra ifitiin
jiruu ifi wodatiisa dande'a fa'a te'a;
nami hiyyeessi ammoo
karra waan hin qanneef,
jiruu ifi wodatiisaaf itti hin rakkatu.
- ⁹ Ifi worra balcha'aa yennaa mara ifa;
issaan nama hama'aa ammoo hin dhaama.
- ¹⁰ Ifi jajiis lola qofa kaasa;
qarummaan ammoo worra gorsa fudhatu bira jirti.
- ¹¹ Karri ariiti'in dhaggatane ariifattee baddi;
ka diqqeessee diqqeessee
kuufate ammoo itti ede'ata.
- ¹² Addiin yennaa turte gadhaa nama gaddisiitti;
halchaan muummotte ammoo
midhaan muka jiru'uu ti.
- ¹³ Nami gorsa tuffatu badii ifi irratti fida;
nami ajaja ulfeessu
ammoo gatii irraa dhaggata.
- ¹⁴ Barsiisi nama qaro'oo madda jiru'uu ti;
tiyyoo du'aa irraa nama deebisa.
- ¹⁵ Qalbeeffati dansaan ulfinna namaaf kenniti;
karaan worra hin addatannee ammoo bu'aa-bayi'i.
- ¹⁶ Nami qalbeeffataan beekkumsaan hujata;
gowwaan ammoo gowwummaa ifii
badhinnatti mudhisa.
- ¹⁷ Ergamaan hamaan rakkoo keessa gala;
ergamaan addatamaan ammoo nageya buusa.
- ¹⁸ Nama qajeelfama tuffatu
hiyyumma'aa fi salphinnatti itti dhufa;
nami xixicha dhage'ee deebi'uu ammoo hin ulfaata.
- ¹⁹ Halchaan muummottu namatti mi'ootti;
gowwooleen ammoo
waan hantuu irraa deebi'iisa jibban.
- ²⁰ Nami qaroo woliin ideemu qaroo hin te'a;
waa'elli gowwa'aa ammoo hin farra.
- ²¹ Wonni hantuun cubbaaleyyii ariiti;
qananummaan ammoo gatii balcha'aa ti.
- ²² Nami dansaan ijoollee ijoollee ifitiif
dhaala lakkisee dabara;
qabeenni cubbaalessaa ammoo

- balcha'aaf kuufama.
²³ Fichaan nama hiyyeessaa
 midhaan bacaa kennuu dande'a;
 haga dhabiisi ammoo haxowee duraa balleessa.
²⁴ Nami ilma ifii adabiisa mararfatu ilma ifii jibba;
 ka jaalatu ammoo malaan adabee isa guddisa.
²⁵ Nami balchaan haga quufutti nyaata;
 nami hamaan yennaa mara beelota.

14

- ¹ Dubartiin qaroon mana ifii ijaarratti;
 dubartiin gowwaan ammoo
 harkuma ifitiin mana ifii diiddi.
² Nami karaa qajeelaa ideemu
 Mootii Waan Maraa sodaata;
 ka karaan isaa micciirama'aa ammoo isa tuffata.
³ Nama gowwaa dubbuma isaatitti adabbii isatti fida;
 nama qaroo ammoo afaan isaatitti isa eega.
⁴ Lafa qotiyyoon hin jirre gootaraan duwwaa hin te'a;
 hunna qotiyyo'ootiin ammoo
 midhaan hin bacata.
⁵ Dhugaa bayaan dhugaammessi hin sobu;
 dhugaa bayaan dharaamessi ammoo dhara dubbata.
⁶ Nami murgaamessi qarummaa hin barbaada;
 garuu hin dhaggatu;
 worra qalbeeffataa ammoo
 beekkumsa dhaggatiisi hin dhibu.
⁷ Afaan isaa irraa
 beekkumsa waan hin dhagganneef,
 nama gowwaa irraa fagaadhu.
⁸ Qarummaan nama qalbeeffata'aa
 karaa irraa akka hin gorre tolchiti;
 gowwummaan nama gowwa'aa
 ammoo karaa irraa gorsiti.
⁹ Gowwooleen ciincaa sababa cubbu'uutiif dhikaatutti murgan;
 odduu worra qajeela'aa ammoo
 fedhii dansa'atti jira.
¹⁰ Nami martinuu
 gammadaa fi gadda hadhowaa ifii hin beeka;
 ka isa waliin goodamu hin jiru.
¹¹ Manni worra hama'aa hin jiga;
 qe'een worra qajeela'aa ammoo hin badhatti.
¹² Karaan sirrii namatti fakkaatu jira;
 muummeen isaa ammoo gara du'aa geessa.
¹³ Kolla keessaayyuu gaddi jiraachuu dande'a;
 gammadi gaddaan muummowuu dande'a.
¹⁴ Nami hamaan gatii hammeenna ifii hin fudhata;
 nami dansaalle gatii hujii dansaa ifii hin fudhata.
¹⁵ Gowwaan waan mara dhugeeffata;
 qalbeeffataan ammoo ijjata ifii hin ilaallata.
¹⁶ Nami qaroon waan hantuu sodaatee irraa hin deebi'a;
 nami gowwaan ammoo ifi hin eegatu;
 hin ariifatalle'e.

- 17 Nami dafee aaru waan gadhee huja;
nami mala namatti dhowu hin jibbatama.
- 18 Nami hin bilchaatin gowwummaa dhaala;
nami qalbeeffataan beekkumsa
akka kallachaa keyata.
- 19 Worri hamaan worra dansaa duratti,
worri cubbaaleyyiin
karra worra balcha'aa duratti gad hin jedhan.
- 20 Hiyyeessi ollaa ifitiinuu hin jibbatama;
dureessi ammoo jaalota hedduu qaba.
- 21 Nami nama tuffatu cubbaalessa;
nami hiyyeessaaf nayu ka gammade.
- 22 Worri mala hamaa dhowu
karaa irraa goranii motii ree?
Worri mala dansaa dhowu ammoo hin jaalataman;
hin addatamanille'e.
- 23 Jabaatanee hujiis bu'aa qaba;
oduu callaa odeessiis ammoo
gara hiyyumma'aa qofa nama geessiti.
- 24 Qananummaan kallacha qaroole'ee ti;
gowwummaan ammoo seesa gowwoole'ee ti.
- 25 Dhugaa bayaan dhugaammessi jiruu fayyisa;
dhugaa bayaan dharaamessi ammoo hin soba.
- 26 Nami Mootii Waan Maraa sodaatu
kushee jadduu qaba;
ijoollee isaatiifille addee itti baqattu hin teeti.
- 27 Mootii Waan Maraa sodaatiis madda jiru'uu ti;
tiyyoo du'aa irraa nama deebisa.
- 28 Ulfinni mootii'ii bacinna kolba'aa ti;
kolbaan yoo hin jiraatin ammoo inni hin bada.
- 29 Nami ossatu hubantii guddoo qaba;
nami dafee aaru ammoo gowwummaa mudhisa.
- 30 Yaadi nageyaa jiruu nafaaf kenna;
hinaaffaan ammoo lafee tortorsa.
- 31 Nami hiyyeessa cunqursu
ka isa dade tuffata;
ka hiyyeeyyi'iif nayu ammoo
Waaqaaf ulfinna kenna.
- 32 Nami hamaan hammeenna ifitiin bada;
nami balchaan du'a keessalle'etti
addee itti baqatu qaba.
- 33 Qarummaan gadhaa worra woy hubatuu keessa leeti;
isiin gadhaa gowwootaa keessatti ammoo hin beekkantu.
- 34 Balchummaan kolbaa ol qaddi;
cubbuun ammoo kolbuma mara salphitti.
- 35 Mootiin tajaajilaa qaro'otti hin gammada;
ka isa fokkisiisutti ammoo hin mufata.

15

- 1 Deebiin dansaan aarii qabbaneessiti;
jechi jabaan aarii kakkaasa.
- 2 Arrabi qaro'oo beekkumsa saada;
afaan gowwa'aa ammoo gowwummaa dubbata.

- 3 Ilti Mootii Waan Maraa addee mara jirti;
waan hantu'uu fi dansaalle hin dhaggiti.
- 4 Arrabi dansaan muka jiru'uu ti;
arrabi dabaan ammoo yaada namaa cassa.
- 5 Gowwaan gorsa abbaa ifii tuffata;
nami xixicha dhage'u ammoo qarummaa mudhisa.
- 6 Mana nama balcha'aa keessa qabeenna gudda'atti jira;
bu'aan nami hamaan dhaggatu ammoo
rakkoo itti fiddi.
- 7 Afaan qaro'oo beekkumsa facaasa;
qalbiin gowwa'aa ammoo akkasii moti.
- 8 Mootiin Waan Maraa ciincaa worra hama'aa hin jibba;
daadimati worra qajeela'aa ammoo
isa gammachiisa.
- 9 Mootiin Waan Maraa karaa worra hama'aa hin jibba;
worra balchummaa gula deemmu ammoo hin jaalata.
- 10 Nama daandii irraa goru adabbii jaddu'utti eegata;
ka xixicha jibbulle hin du'a.
- 11 Addeen worri du'e jiruu fi addeen badi'ii
Mootii Waan Maraa duratti eega beekkantee,
gadhaan namaa attam attam
irra caalaa hin beekkanne ree?
- 12 Nami murgaamessi xixamuu hin jaalatu;
inni nama qaroolle gorsa hin gaafatu.
- 13 Nami gadhaan isaa gammade fuula ifa;
nami gadhaan isaa gadde ammoo yaada caba.
- 14 Qalbiin nama hubantii qabuu beekkumsa barbaaddi;
afaan nama gowwa'aa ammoo
gowwummaa raama.
- 15 Hiyyeessaaf guyyaan marti hama'a;
gadhaa gammada qabuuf ammoo
guyyaan marti jila.
- 16 Qabeenna guddaa hogaa qabuu mannaa,
qabeenna diqqaa qabaatanee
Mootii Waan Maraa sodaataa le'iisa woyya.
- 17 Addee jibbi jirutti cooma sanga'aa nyaatiisaa mannaa,
addee jaalalli jirutti
shaanaa nyaatiisa woyya.
- 18 Nami dafee aaru lola kaasa;
nami ossatu ammoo
lola qabbaneessa.
- 19 Karaan nama booseyaa gore'een cufameera;
karaan nama qajeela'aa ammoo
gufuu hin qabu.
- 20 Ilmi qaroon abbaa ifii gammachiisa;
nami gowwaan ammoo haadha ifii tuffata.
- 21 Nama gowwaa gowwumma'atti gammachiisa;
nami qaroon ammoo karaa qajeelaa deema.
- 22 Gorsii yoo hin jiraatin karoorri hin milkowu;
gorsitooti yoo heddatte ammoo
karoorri hin milkowa.
- 23 Nami deebii malte namaaf deebisiisaan gammada;

- dubbiin yennaa isi'ii maltetti
 dubbatantu attam attam dansa'a!
 24 Karaan nama qaro'oo addee
 worri du'e jirutti akka inni gad hin buuneef,
 gara jiru'uutitti ol isa geessa.
 25 Mootiin Waan Maraa mana worra kooruu hin diiga;
 meessaa haadha hiyyeessaa ammoo hin eega.
 26 Mootiin Waan Maraa yaada worra hama'aa hin jibba;
 yaadi worra qulqullu'uu ammoo
 isa gammachiisan.
 27 Nami joljolaan maatii ifii irratti rakkoo fida;
 nami safuu jibbu ammoo hin le'a.
 28 Gadhaan nama balcha'aa
 deebii kenniisaan dura itti yaada;
 afaan nama hama'aa ammoo dubbii hantuu dubbata.
 29 Mootiin Waan Maraa nama hamaa irraa fagoo jira;
 daadimata balcha'aa ammoo hin dhage'a.
 30 Fuulli ifaan gadhaa namaa gammachiisa;
 oduun gammadaa lafee jabeessiti.
 31 Nami xixicha jiruu kennu caqasu,
 qaroolee odduu hin le'a.
 32 Nami gorsa tuffatu,
 ifi tuffata;
 nami xixicha dhage'u ammoo
 hubantii dhaggata.
 33 Mootii Waan Maraa sodaatiis qarummaa nama barsiisa;
 ulfinna dhaggatiisaan dura gad ifi qabiisatti jira.

16

- 1 Nami gadhaa ifiititti hin yaadata;
 yaada san guutuu ka dande'u ammoo
 Mootii Waan Maraa qofa.
 2 Nami akka ifiif ilaalutti
 karaan isaa marti qulqulluu isatti fakkaata;
 yaada gadhaa isaa ammoo
 Mootiin Waan Maraa hin madaala.
 3 Waan gootu mara
 Mootii Waan Maraatiis magannee kennadhu;
 wonni ati yaaddu marti si'iif hin milkootti.
 4 Mootiin Waan Maraa waan mara sababa dadeef qaba;
 worra hamaaleyyi'iifille inni guyyaa badi'ii qopheesseera.
 5 Mootiin Waan Maraa worra kooru hin jibba;
 isaan ijumaa adabbii jalaa hin bayanu.
 6 Jaalalaa fi addatamumma'aan
 nama yakkeef araarri godhama;
 Mootii Waan Maraa sodaatiisaan
 nami waan hantuu irraa fagaata.
 7 Karaan namaa Mootii Waan Maraa yennaa gammachiise,
 diinoti isaatuu isa woliin nageyaan le'an.
 8 Qabeenna bacaa
 karaa haqa hin te'iniin dhaggatanuu mannaa,
 qabeenna diqqaa karaa balchumma'aatiin dhaggatanu woyya.
 9 Nami gadhaa ifi keessatti karoora hin baafata;

- Mootiin Waan Maraa ammoo karoora isaa san hin murteessa.
- 10 Mootiin akka Mootii Waan Maraa dubbata;
afaan isaa haqa hin dassu.
- 11 Madaallii fi safarri sirrii te'e ka Mootii Waan Maraa ti;
dhakaan madaalli'ii martinuu hujuma isaa ti.
- 12 Barcumaan mootumma'aa
balchumma'aan waan jabaatuuf,
moototi hujii hantuu jibbuu qaban.
- 13 Moototi dubbii dhuga'aatitti gammadan;
nama dhugaa dubbatu jaalatan.
- 14 Mufiin mooti'ii akka ergamaa du'aa ti;
nami qaroon ammoo mufii hin qabbaneessa.
- 15 Fuulli mooti'ii yennaa ifu jiruun jirti;
isa biratti fudhatama dhaggatiis
akka rooba furmaataa ti.
- 16 Worqii dhaggatiisa irra qarummaa dhaggatiis,
meetii caalaa hubantii filatiis
attam attam caalti!
- 17 Kolbaan dansaan waan hantuu irraa fagaatti;
nami karaa ifii eeggatu jiruu ifii eeggata.
- 18 Ifi jajuun badiisatti,
koorri jigiisatti nama geessa.
- 19 Worra kooru woliin boojuu qoodamiisaa mannaa,
worra hiyyeeyyii woliin gad ifi qabiisa woyya.
- 20 Nami gorsa dhage'u,
qananummaa dhaggata;
nami Mootii Waan Maraa
addatulle hin gammada.
- 21 Worri qaroon «Qalbeeffattoota» jedhaman;
dubbiin mi'oottuun beekkumsa namaaf dabalti.
- 22 Qarummaan worra isii qabuuf madda jiru'uu ti;
gowwummaan ammoo worra gowwa'atti adabbii fiddi.
- 23 Nami qaroon itti yaadatee dubbata;
dubbiin afaan isaa nama barsiitti.
- 24 Dubbiin dansaan akka nadhii dammaa ti;
namatti mi'ootti;
lafee namaatiifille fayyinna kenniti.
- 25 Karaan namatti qajeelaa fakkaatu jira;
dhuma irratti ammoo gara du'aa geessa.
- 26 Fedhiin sagale'ee akka nami jabaatee huju gooti;
beeltille huji'itti isa kakkaachi.
- 27 Nami badaan waan hantuu mala dhowa;
dubbiin isaalle akka ibiddaa nama guddi.
- 28 Nami micciiramaan lola kaasa;
nami nama hamatu jaalota gargar baasa.
- 29 Nami hunnaan nama irratti ka'u
ollaa ifi karaa irraa milissa;
daandii dansaa hin teennelle'etti geessa.
- 30 Nami ilaan qiphifatu hammeenna mala dhowa;
ka hidhii ciniinnatulle hammeenna yaadata.
- 31 Arriin kallacha ulfinnaa ti;
isiin jiruu balchumma'aatiin dhagganti.
- 32 Nama hunnaamessaa mannaa,

nama ossataa woyya;
 nama hunnaan qachaa tokko qabatuu mannaa,
 nama ifi qabatu woyya.

- ³³ Murtee godhatiisaaf kolbaan hixaa buufatti;
 waan mara ka murteessu ammoo Mootii Waan Maraa ti.

17

- ¹ Mana waan nyaatanuun guutamee,
 wol dhaba qabuu mannaa,
 daabboo godduu nageyaa woyya.
- ² Tajaajilaan qaroon ilma salphicha irratti bulchaa hin te'a;
 inni obboleeyyan dhaala qoodantu woliin
 akka obboleessaa dhaala hin qoodama.
- ³ Ibiddi worqi'ii fi meetii haga ilaala;
 Mootiin Waan Maraa ammoo
 gadhaa namaa haga ilaala.
- ⁴ Nami hamaan waan hantuu caqasa;
 nami dharaamessi dubbii dharaamessaa
 miidhassee caqasa.
- ⁵ Nami worra hiyyeeyyi'itti murgu,
 ka isaan dade arrassa;
 nami badii namaatitti gammadu,
 adoo hin adabamin hin hafu.
- ⁶ Ilmaan ilmaan isaanii
 maanguddootaaf kallacha isaanii ti;
 worri ijoollee ifitiif ulfinna isaanii ti.
- ⁷ Dubbiin dansaan nama gowwa'aaf hin teetu;
 dubbiin dharaa irra caala'aayyuu
 bulcha'aaf hin teetu.
- ⁸ Safuun nama isii kennuuf akka xano'oo ti;
 addee dhaqanu maratti waan isaaf milkoottu itti fakkaatti.
- ⁹ Nami yakkaa namaaf araaramu,
 jaala qabaata.
 Nami dubbii dabartetti deddeebi'u ammoo
 jaalota gargar baasa.
- ¹⁰ Gowwaan yennaa dhibba dhaanamee
 ka itti dhage'amu caalaa,
 xixichi tokko nama qaroo itti dhage'ama.
- ¹¹ Nami hamaan nama irratti ka'iisa qofa barbaada;
 isa loliisaaf
 ergamaan marartii hin qanne tokko hin ergama.
- ¹² Nama gowwaa gowwummaa ifii keessa jirutti
 dhaqiisa mannaa,
 doobbaa* dhalaa
 ilmeen jalaa fudhatantetti dhaquu woyya.
- ¹³ Nami waan dansaa isaaf godhaneef,
 waan hantuu yoo deebise,
 wonni hantuun mana isaa irraa hin fagaattu.
- ¹⁴ Lola jalqabiis akka bisaan hidha qabame cassee yaa'uu ti;
 tanaaf ati adoo dubbiin hin jalqabin qabbaneessi.
- ¹⁵ Nama yakkaamessa bilisa baasiisaa fi
 nama balcha'atti muriisa,

* **17:12** Doobbaa: Bineensa iyyaa fakkaatu.

- lamaanuu Mootiin Waan Maraa hin jibba.
- 16 Gowwaan qarummaa
dhaggatiisaaf eega hin halchinee,
beeseen inni harka ifitii qabu
maan isaaf gooti ree?
- 17 Jaalli yennaa mara si jaalata;
obboleessille yennaa rakko'ootiif dhalata.
- 18 Nami qalbii hin qanne tokko wolii galtee jabeessiisaaf,
namaan harka wol dhowata;
ollaa ifitiifille wobbii dabara.
- 19 Nami lola jaalatu cubbuu jaalata;
nami ifi jaju badii ifitti waama.
- 20 Nama yaada micciiramaa qabuuf hin milkoottu;
nami nama sobulle rakkoo keessa seena.
- 21 Ilma gowwaa uumatuun gadda namatti fida;
abbaan ilma gowwa'aa gammada hin qabu.
- 22 Gadhaan gammadu akka qorsa dansa'aa ti;
yaadi cabaan ammoo lafee goggossa.
- 23 Nami hamaan haqa dassiisaaf,
dhossa'aan safuu fudhata.
- 24 Ilti nama qaro'oo gara qarumma'aa ilaalti;
ilti nama gowwa'aa ammoo gara mara joonjiti.
- 25 Ilmi gowwaan gadda abbaa ifiititti fida;
haadha isa deettelle jiruu itti hadheessa.
- 26 Nama yakkaa hin qanne adabuun,
yookiin qondaaltota qajeelummaa isaaniitiif dhaanuun
dansa'aa moti.
- 27 Nami beekaan dubbii qusata;
nami hubataalle hin sarma.
- 28 Gowwaanuu yoo cadhise qaroo fakkaata;
afaan ifille yoo qabate
akka hubata'aatitti ilaallama.

18

- 1 Nami nama waliin wolii hin galle,
fedhii ifii qofa gula deemuu barbaada;
muraa haqaa maraayyuu hin morma.
- 2 Nami gowwaan yaada ifii qofaa
namatti mudhisuu barbaada malee,
hubanti'itti hin gammadu.
- 3 Hammeenni yennaa dhufu,
tuffatamiisille hin dhufa;
salphinnalle waliin qaani'itti dhufa.
- 4 Dubbiin afaan namaa akka bisaan qile'ee ti;
maddi qarumma'aa ammoo akka bisaan yaa'uu ti.
- 5 Nama hama'aaf goluun,
yookiin nama yakkaa hin qanne
haqa dhoogguun dansa'aa moti.
- 6 Haasonni nama gowwa'aa lola isatti kaasa;
afaan isaalle dhaanamiisa isatti fida.
- 7 Gowwaa dubbii isaatittuu isa balleessa;
afaanuma isaatittuu akka tiyyo'oo isa qaba.
- 8 Dubbiin nama nama hamatuu

- akka sagalee mi'oottu'uu ti;
isiin gara qochumaanii gad hin buuti.
- ⁹ Nami huji'itti booseyu
obboleessa nama wo balleessuu ti.
- ¹⁰ Mootiin Waan Maraa
akka xelleephoo jaddu'uu ti;
worri balchooleen
itti baqatanee bayan.
- ¹¹ Qabeenni dureeyyi'ii isaaniif
akka qachaa dalleya dhaka'aa jabaa qabuu ti;
isaan akka dalleya dheera'aatitti
isa hedatan.
- ¹² Badiisa ifitiin dura nami hin koora;
ulfinnaan dura ammoo
gad ifi qabiisatti dhufa.
- ¹³ Dubbii adoo hin caqasin deebii kennuun,
gowwumma'a;
fokko'olle'e.
- ¹⁴ Yaadi namaa dhibee hin ossata;
yaadi yoo cabe ammoo
eentu isa fayyisuu dande'a ree?
- ¹⁵ Qalbiin nama hubata'aa beekkumsa dhaggatti;
gurri nama qaro'olle beekkumsa barbaada.
- ¹⁶ Kennansi nama isa kennuuf karaa bana;
fuula worra gugurda'aa dura isa dhikeessa.
- ¹⁷ Nami isa mormu dhufee haga isa mormutti,
nami dura dhufee dubbii ifi yaa'i'itti dhikeeffatu,
waan sirrii te'e fakkaata.
- ¹⁸ Hixaa buufatiis moromaa qabbaneessa;
wol mormitoota jajjadduu lamaan gargar baasa.
- ¹⁹ Obboleessi yakkaan irratti hujame
qachaa dalleya dhaka'aa qabu caalaa jabaata.
Moromaan akka danqaraa sibiilaa
ka karra dalleya dhaka'aa ittiin cufanuu ti.
- ²⁰ Nami bu'aa waan afaan isaa keessaa bayuun quufa;
dubbii arrabi isaa dubbattelle'een dharraa baya.
- ²¹ Arrabi hunna du'aa fi jiru'uu qaba;
worri isa jaalatu bu'aa isaa hin nyaata.
- ²² Nami haadha manaa dhaggatu waan dansaa dhaggata;
Mootii Waan Maraa biralle'ee fudhatama dhaggata.
- ²³ Hiyyeessi marartii dhaggatiisaaf gaafata;
dureessi ammoo jabeennaan deebii kenna.
- ²⁴ Jaaloti gariin nama balleessiti;
jaaloti obboleessa caalaa
namatti dhikaatanulle ammoo hin jiran.

19

- ¹ Gowwaa dubbii micciiruu mannaa,
hiyyeessa komii male le'u woyya.
- ² Beekkumsa adoo hin qabaatin,
halchaan callaan dansa'aa moti;
nami akka malee ariifatu karaa irraa gora.
- ³ Nami gowwummaa ifitiin jiruu ifi balleessa;

- gadhaa ifii keessatti ammoo
Mootii Waan Maraa komata.
- 4 Durummaan jaala hedduu namaa fiddi;
hiyyeessi ammoo jaala ifiituu dhaba.
- 5 Nami dharaan dhugaa bayu,
adoo hin adabamin hin hafu;
ka dhara dubbatulle adabbii jalaa hin bayu.
- 6 Namooti hedduun qondaaltota duratti
fudhatama dhaggatiisa barbaadan;
nama wo namaa kennuufille martinuu jaala.
- 7 Nama hiyyeessa firri isaatuu eega jibbee,
jaaloti isaa ammoo attam attam
caalchisanee isa irraa fagaatanu ree!
Inni kadhataa isaan gula deema,
isaan ammoo irraa fagaatan.
- 8 Nami qarummaa qabu lubbuu ifii jaalata;
nami hubantii jaalatu hin qananooma.
- 9 Nami dharaan dhugaa bayu,
adoo hin adabamin hin hafu;
ka dhara dubbatulle hin bada.
- 10 Qananummaan gowwa'aaf hin teetu;
qondaaltota bulchiisi garbichaaf
caala'aayyuu attam attam baddu'u!
- 11 Qarummaan ossata namaaf kenniti;
arraba tuffatanee irra dabariis ulfinna.
- 12 Aariin mooti'ii akka dhangaa dhowiisa neenqaa ti;
fudhatama isa irraa dhaggatiis ammoo
akka fixeensa marra irraa ti.
- 13 Ilmi gowwaan abbaa ifititti badii fida;
haati manaa dubbattittiin akka bokkeya qacacuu ti.
- 14 Manaa fi durummaa worra irraa dhaalan;
haati manaa qalbittiin ammoo
kennansa Mootii Waan Maraa ti.
- 15 Booseyummaan hirriiba hamaa namatti fida;
nami hujii malee tee'u beelaan rakkata.
- 16 Nami ajaja eegatu jiruu ifii eegata;
nami karaa Waaqaa tuffatu ammoo hin du'a.
- 17 Nami hiyyeessaaf gadhaa laafu
akka waan Mootii Waan Maraatiif liqeessee ti;
Mootiin Waan Maraa gatii isaaf hin kaffala.
- 18 Deebisiisaaf adoo addiin jirtuu,
ijoollee teeti adabi;
gad lakkittee akka isaan du'anuu hin godhin.
- 19 Nami akka malee aaru tokko
gatii aarii sanii fudhatuu qaba;
ati yennaa tokko rakkoo keessaa yoo isa baatte,
itti deebi'iis keeti ammalle hin hafu.
- 20 Gara duraa qaroo akka teetuuf,
gorra caqasi;
qajeelfama fudhadhu.
- 21 Gadhaa namaa keessa Yaada heddu'utti jira;
ka te'u ammoo yaada Mootii Waan Maraa qofa.
- 22 Wonni nami barbaadu jaalala bara baraa ti;

- dharaamessa te'iisaa mannaa,
hiyyeessa te'uu woyya.
- 23 Mootii Waan Maraa sodaatiis
gara jiru'uu nama geessa;
nami Mootii Waan Maraa sodaatu gabbi jedhee le'a;
wonni hantuulle isa hin tuxxu.
- 24 Nami booseyi harka ifii qorii keessa hin keya;
gara afaan ifiituu hin deebifatu.
- 25 Nama murgu dhaani;
nami gowwaalle qarummaa hin barata;
nama hubataa xixi innille beekkumsa hin dhaggata.
- 26 Ka abbaa ifii saamu,
haadha ifiille ka manaa ari'u,
ilma fokko'oo fi salphinna fidu.
- 27 Ilma kiyya,
ati yoo gorsa kiyya dhage'iisa lakkitte,
waan beettuuyyuu irraa badda.
- 28 Dhugaa bayaan dharaa haqa irratti murga;
afaan nama hama'aa waan hantuu gad liqinsa.
- 29 Worra murguuf muraan,
worra gowwa'aaf dhaanichi qophoweera.

20

- 1 Daadhiin woyni'ii murgaamessa,
untoon jadduun xeenxiraa nama gooti;
nami isaan kanaan dokonkore qaro'oo moti.
- 2 Aariin mooti'ii akka neenqa dhangaa dhowuu ti;
nami isa aarsulle jiruu ifii dhaba.
- 3 Wol dhaba irraa fagaatiis ulfinna namaaf kenna;
gowwaan yenna mara lola kaasa.
- 4 Nami booseyi yenna'aan hin qotatu;
yenna midhaan galfatanu inni midhaan barbaada,
ammoo womaa hin dhaggatu.
- 5 Yaadi gadhaa namaa akka bisaan qilee keessaa ti;
nami qalbii qabu ammoo
achi keessaa hin woraabbata.
- 6 Nami hedduun, «Nuuti worra addatama'a» ifiin jedhan;
nama addatamaa ammoo eentu dhaggatuu dande'a?
- 7 Nami balchaan komii malee le'a;
ijoolleen isa gula ideentulle ta hiree dansaa qaddu.
- 8 Mootiin barcumaa mura'aa irraa tee'eeru,
iluma ifitiin waan hantuu ilaalee beeka.
- 9 Eennutti, «Ani gadhaa kiyya qulqulleeffadheera;
ani cubbuu hin qabu» jedhuu dande'a ree?
- 10 Mootiin Waan Maraa madaala sirrii hin te'inii fi
safara sirrii hin te'in jibba.
- 11 Ijoolleen qulqulloota akka te'ane,
sirrii te'uu isaaniille,
hujii ifitiin hin beekkaman.
- 12 Gurra dhage'uu fi ila dhaggitu,
lachuu ka dade Mootii Waan Maraa ti.
- 13 Akka hin hiyyoommane,
hirriiba hin jaalatin.

- Midhaan akka quuttu,
dammaqii hujadhu.
- 14 Nami woy bitatu,
«Wonni kun baddu'u, wonni kun baddu'u» jedha;
bitateen duuba, «Dansaa bitadhe» jedhee ifi jaja.
- 15 Worqi'ii fi dooqi baca'atti jira;
afaan dubbii beekkumsaa dubbatu ammoo,
akka dhakaa gatii guddo'oo ti.
- 16 Nama alaga'aaf wobii te'e woyaa irraa mulqadhu;
marroo nama alagaa sanii woyaa isaa qabadhu.
- 17 Sagaleen hannaan dhaggante namatti hin mi'ootti;
duubarra ammoo akka maansa afaan nama guutee teeti.
- 18 Gorsa fudhadhuu karoora baafadhu;
qajeelfama fudhadhuu duuli.
- 19 Nami hamatu dhossaa mudhisa;
tanaaf nama dubbii baceessu irraa fagaadhu.
- 20 Nami abba'aa fi haadha ifii abaaru,
akka issaa dukkana duudduu keessatti dhaamee hin te'a.
- 21 Qabeenni jalqaba irratti
dafee dhaalaan dhufu,
dhuma irratti eebba hin qabu.
- 22 Nami si irratti waan hantuu yoo huje,
«Anille deebisee waan hantuu irratti huja» hin jedhin;
Mootiin Waan Maraa si baasaa,
isa eegadhu.
- 23 Mootiin Waan Maraa madaala sirrii hin te'in hin jibba;
safari sirrii hin te'inille isa hin gammachiisu.
- 24 Ijjata namaa ka qajeelchu
Mootii Waan Maraa ti;
nami karaa ifii attam beekuu dande'a ree?
- 25 Nami tokko adoo itti hin yaadin,
Waaqaaf waadaa galee,
duuba irra yoo gaabbe,
tiyyoo seeniisa.
- 26 Mootiin qaroon worra hamaa miidhassee beeka;
inni marartii malee isaan hin adaba.
- 27 Mootiin Waan Maraa qalbii namaa hin ilaala;
keessa namaalle hin qorqora.
- 28 Mararti'ii fi addatamummaan nageyaan mootii eegan;
barcumaan mootummaa isaa
addatamumma'aan jabaatee dhaabbata.
- 29 Ulfinni dargaggootaa jabeenna isaanii ti;
ulfinni maanguddootaalle arrii isaanii ti.
- 30 Adabbiin madeessitu waan hantuu qulqulleessiti;
dhaaniisille keessa namaa qulqulleessa.

21

- 1 Yaadi mooti'ii harka Mootii Waan Maraa keessa jira;
inni akka bisaan yaa'uu gara fedhe isa deebisa.
- 2 Namatti hujiin inni huju martinuu
sirrii isatti fakkaatti;
Mootiin Waan Maraa ammoo
yaada isaa hin madaala.

- 3 Balchumma'aa fi haqa hujuun,
ciincaa caalaa Mootii Waan Maraa biratti
fudhatama qaba.
- 4 Ifi jajiis, bondhooriisii fi
hujiin worra hamaaleyyi'ii cubbu'u.
- 5 Karoorri worra jabaatee hujuu bu'aa buusa;
jarjarri ammoo gara hiyyu'uu nama geessa.
- 6 Karri arraba sobaatiin horatane,
akkuma hurrii takkumaan gara gorte dhabanuu tii fi
akkuma tiyyoo nama ijeettuu ti.
- 7 Namooti hamaaleyyiin
waan sirrii te'e hujuu waan jibbanuuf,
hunnaan nama irratti ka'iis isaanii
haxowee isaan hin baleessa.
- 8 Karaan worra yakkaa hujuu micciirama'a;
karaan worra yakkaa hin qannee ammoo qajeela'a.
- 9 Niitii dubbatittii woliin le'iisaa mannaa,
roga heellichoo manaa irra le'uu woyya.
- 10 Nami hamaan waan hantuu halcha;
eenulle'eef marartii hin qabu.
- 11 Nami murgu yenna adabamu,
nami gowwaan qarummaa dhaggata;
nama qaroo yenna barsiisane,
beekkumsa dhaggata.
- 12 Waaqi balchaan,
waan mana worra hama'aa keessatti
hujamiisatti jiru hin beeka;
worra hamaa san badii itti hin fida.
- 13 Hiyyeessa rakkatee iyyuuf nami hin dhageenne,
innille rakkatee yenna iyyu,
nama isa qarqaaru hin dhaggatu.
- 14 Kennansi dhossa'aan kenname aarii caffachiisa;
safuun dhossa'aan harka keessa keyanulle,
aarii guddoo hin qabbaneessa.
- 15 Haqi yenna hujamu,
worra balchoota hin gammachiisa;
worra waan hantuu huju ammoo hin bararassa.
- 16 Nami karaa hubanti'ii irraa goru,
yaa'ii worra du'ee keessa bu'a.
- 17 Nami qananummaa jaalatu hin hiyyoommata;
nami daadhii woyni'itii fi carree jaalatu ijjumaa hin duroommatu.
- 18 Nami hamaan farra nama balcha'aaf qopheessetti,
nami hin addatannelle
farra nama qajeela'aaf qopheessetti hin gala.
- 19 Niitii dubbatittii aartu woliin le'iisa mannaa,
goomolee keessa le'iisa woyya.
- 20 Nami qaroon qabeenna gatii guddo'ootii fi zayitii ejersaa mana ifii
keessatti kuufata;
nami gowwaan waan qabu mara balleessa.
- 21 Nami balchumma'aa fi jaalala hordofu,
jiruu, balchumma'aa fi ulfinna hin dhaggata.
- 22 Nami qaroon qachaa worra jajjaba'aa hin qabata;
kushee isaan itti addatanulle hin diiga.

- 23 Nami afaan ifiitii fi arraba ifi eegatu,
rakkinna irraa ifi eegata.
- 24 Nami kooruu fi hunnaan nama irratti ka'u,
«Ka namatti murgu» jedhama;
inni kooraan guutameera.
- 25 Harki isaa hujii waan jibbuuf,
nami booseyi kajeella'aan du'a.
- 26 Inni guyyaa guutuu kajeela;
nami balchaan ammoo
harka keessa adoo hin qabatin kenna.
- 27 Mootiin Waan Maraa ciincaa nama hama'aa jibba;
yennaa nami yaada hama'aan kennu fa'a irraa caalaa jibba.
- 28 Dhugaa bayi dharaamessaa hin baddi;
dhugaa bayi dhugaamessaa ammoo
haga bara baraa hin jiraatti.
- 29 Nami hamaan mataa jabaata;
nami qajeelaan ammoo marroo
hujii ifi itti yaadata.
- 30 Qarummaan, hubanti'ii fi
karoorri Mootii Waan Maraa
ifi irraa dhooggatiisa dandeessittu hin jirtu.
- 31 Guyyaa lolaatiif farda hin qopheeffatan;
ka nama injifachiisu ammoo Mootii Waan Maraa ti.

22

- 1 Durummaa guddo'oo mannaa, maqaa dansaa woyya;
meeti'ii fi worqii caalaa
fudhatama qabaachuu woyya.
- 2 Isaan lamaanuu ka dade,
Mootii Waan Maraa waan te'eef,
dureessii fi hiyyeessi wol qixxe'e.
- 3 Nami qalbeeffataan balaa dhaggee dhokata;
nami gowwaan ammoo ittuma ideemee rakkata.
- 4 Gad ifi qabiisii fi Mootii Waan Maraa sodaatiis
karra, ulfinnaa fi jiruu namaaf kennan.
- 5 Karaa namoota hama'aa keessa qore'ee fi tiyyo'otti jira;
nami ifi eegatu ammoo irraa fagaata.
- 6 Ijoollee karaa sirri'ii barsiisi;
yennaa dulloomanelle isaan
karaa san irraa hin goranu.
- 7 Dureessi hiyyeessa bulcha;
ka liqeeffatulle ka liqeessuuf tajaajila'a.
- 8 Nami hammeenna facaasu rakkoo haammata;
uleen aarii isaalle hin baddi.
- 9 Sagalee ifi hiyyeeyyii waliin waan goodamuuf,
nami arjaan hin eebbifama.
- 10 Nama murgu gad baasi;
wol dhabille hin baya;
lolti, arrabille hin jiraatu.
- 11 Nami yaada qullu'uu fi dubbii qulluu jaalatu,
jaala mooti'ii hin te'a.
- 12 Ilti Mootii Waan Maraa beekkumsa eeddi;

- dubbii worra hin addatannee ammoo inni hin balleessa.
¹³ Nami booseyi, «Neenqi ala jira!
 Yookiin ani karaa irratti hin du'a» jedha.
¹⁴ Afaan dubartii gaarayyeffattu'uu akka boolla qile'ee ti;
 nami Mootii Waan Maraa abaare isii keessa bu'a.
¹⁵ Gowwummaan yaada ijoolle'ee qabatteerti;
 uleen xixxa'aa ammoo gowwummaa isaan irraa hin fageessiti.
¹⁶ Nami durummaa ede'atiisaaf hiyyeessa cunqursu,
 ka dureessaaf kennansa kennulle lamaanuu hin hiyyoommatan.

Jecha Qaro'oo

- ¹⁷ Gurra keeti itti qabadhuutii,
 Waan qaroon jedhu caqasi!
 Gadhaa keeti gara barsiisa kiyyaa deebifadhu!
¹⁸ Isiin dansaa waan teeteef, gadhaa keetitti qabadhuutii,
 yennaa mara marroo isi'ii dubbadhu.
¹⁹ Akka ati Mootii Waan Maraatiitti addattuuf,
 ani adha si barsiisa.
²⁰ Jechoota gorsaatii fi beekkumsaa
 soddoma ani si'iif hin barreessinee ree?
²¹ Worra si erguuf deebii dhuga'aa akka deebittuuf,
 dhuga'aa fi jecha dhuga'aa ani si hin barsiinne ree?

Tokkeessoo

- ²² Worra hiyyeeyyii waan hiyyeeyyii te'aneef hin saamin;
 worra rakkataa addee mura'aatitti hin farrisiisin.
²³ Mootiin Waan Maraa isaaniif waan falmatuuf,
 nama isaan saamu hin saama.

Lammeessoo

- ²⁴ Nama aarammeessa jaala hin godhatin;
 nama dafee aarutti hin maxxanin.
²⁵ Ati isa irraa barattee,
 tiyyoo isaa keessa seenta fa'a.

Sadeessoo

- ²⁶ Nama waada'aaf harka namaa dhowu,
 yookiin liqa'aaf wobii dabaru hin te'in.
²⁷ Ati waan kaffaltuu yoo dhadde,
 itilleen teeti si jalaa hin fuudhatanti.

Arfeessoo

- ²⁸ Dhakaa meessa'aa ka durii ka abbootiin durii dhaabane adde'ee hin
 munyuussin.

Shaneessoo

- ²⁹ Ati nama hujii ifitiin leenji'eeru dhaggiteertaa?
 Inni mootota dura tajaajila malee,
 nama mara dura hin tajaajilu.

23

Jayeessoo

- ¹ Sagalee nyaatiisaaf bulchaa woliin yennaa teettu,

- waan si dura jirtu san hubadhuu ilaali.
² Nyaatiisaaf dharraa guddoo yoo qabaattelle,
 ifi qabadhu.
³ Sagaleen sun waan si sodduuf,
 mi'aan isi'ii si hin joljolsin.

Torbeessoo

- ⁴ Duroomiisaaf jettee akka malee hin elowin;
 ifi qabatiisaaf qarummaa qabaadhu.
⁵ Durummaan akka risaa koolaan ka'uu,
 haga lipheettii ilaatitti,
 nama duraa baduu hin dandeetti.

Saddeetessoo

- ⁶ Sagalee nama donnaa hin nyaatin;
 mi'aan isi'ii si hin joljolsin.
⁷ Inni akka nama yennaa mara marroo gatii sagaleen sun baachu yaaduu ti;
 inni afaaniin, «Nyaadhu; uni» siin jedha;
 gadhaan isaa ammoo si woliin hin jiru.
⁸ Diqqoo nyaatteeyyuu hin diddidda;
 dubbii galataa teetille hin balleessita.

Sagaleessoo

- ⁹ Inni dubbii qarumma'aa teetitti waan murguuf,
 gowwa'atti hin dubbatin.

Kudhaneessoo

- ¹⁰ Dhakaa meessa'aa ka durii adde'ee hin munyuussin
 yookiin fichaa ijoollee abbaa hin qannee
 meessaa hin dabarin.
¹¹ Waaqi isaan wodu jabaa waan te'eef,
 inni isaaniif hin falmata.

Kudhanii Tokkeessoo

- ¹² Qalbii teeti gara gorsaa,
 gurra keetille gara beekkumsaa deebifadhu.

Kudhanii Lammeessoo

- ¹³ Ijoollee teeti adabiisa hin lakkisin;
 kuta'aan yoo dhaante isaan hin du'anu.
¹⁴ Ati yoo kuta'aan isaan dhaante,
 lubbuu isaanii du'a irraa hin hamburta.

Kudhanii Sadeessoo

- ¹⁵ Ilma kiyya, ati qaroo yoo teete,
 gadhaan kiyya hin gammada.
¹⁶ Yennaa afaan keeti waan sirrii te'e dubbatu,
 keessi kiyya guddoo gammada.

Kudhanii Arfeessoo

- ¹⁷ Yennaa mara Mootii Waan Maraa
 sodaatiisaaf hinaaf malee,
 cubbaaleyyi'itti hin hinaafin.
¹⁸ Dhugumaan ati gara fuula duraa addii qadda;
 addiin teetille hin baddu.

Kudhanii Shaneessoo

- ¹⁹ Ilma kiyya, caqasi;
 qaroolle te'i;

- qalbii teetille daandii qajeelaa irratti eegadhu.
 20 Worra daadhii woyni'ii akka malee unuu fi
 worra foon akka malee nyaatu woliin hin jaalomin.
 21 Worri machowuu fi worri gadhitoon hin hiyyoommatan;
 hirriibi hamaan isaaniille woyaa ciccittuu isaanitti hin uffisa.

Kudhanii Jayeessoo

- 22 Abbaa keeti ka si uume dhage'i;
 haadha teetille yennaa isiin dulloonte hin tuffatin.
 23 Dhuga'aa fi qarummaa,
 gorsaa fi hubantii bitadhu malee hin gurgurin.
 24 Abbaan nama balcha'aa gammada guddaa qaba;
 ka ilma qaroo qabulle isatti hin gammada.
 25 Abbaan keetii fi haati teeti gammadanuu ti;
 haati si deette akka malee gammadduu ti.

Kudhanii Torbeessoo

- 26 Ilma kiyya, qalbii teeti naa kenni;
 ilti teetille karaa kiyya ilaaltuu ti.
 27 Dubartiin sagaagaltittiin akka boolla qile'ee ti;
 niitiin gaarayyeeffattuun akka balleessa dhipha'aa ti.
 28 Isaan akka worra nama saamuu riphane si eegan;
 dhiira hedduu niitii ifitiif akka hin addatanne godhan.

Kudhanii Saddeetessoo

- 29 Ka waacifu eennu?
 Ka gaddu eennu?
 Ka wol dhabu eennu?
 Ka nama komatu eennu?
 Ka sababa malee madowu eennu?
 Ka ila diimatu eennu?
 30 Worra daadhii woyni'ii irra turu,
 ka yennaa mara daadhii woyni'ii
 ta makaa qaddu barbaaduu motii ree?
 31 Daadhiin woyni'ii yennaa diimattu,
 shurrubbee keessaa yennaa calalaxxu,
 akka kasoo yennaa isii unanu
 si hin halchisiisin.
 32 Muummee irratti akka dhudhuufa'aa si idditi;
 akka buuti'iille hadhaa sitti naxxi.
 33 Ilti teeti waan haareya dhaggiti;
 qalbiin teetille hin cucurruuxxi.
 34 Akka nama abbaayaa irra rafuu,
 akka nama qaccee utubaa hobolo'oo irra irkatuu hin teeta.
 35 Ati, «Na dhowane;
 ani ammoo hin miidhanne;
 na dhaanane;
 ani ammoo hin dhukkuffanne;
 untoo dhibii barbaadatiisaaf, yoom dammaqa?» jetta.

24

Kudhanii Sagaleessoo

- 1 Namoota hamoolee hin hinaafin;
 jaalummaa isaanii hin halchin.
 2 Gadhaan isaanii hunnaan nama irratti ka'iisa yaada;

afaan isaaniille marroo maltumma'aa dubbata.

Diddameessoo

- ³ Manni qarumma'aan ijaarama;
hubantiille'een jabeeffama.
⁴ Beekkumsaan kollooti mana sanii
meya gatii guddo'ootii fi
meya dadansa'aan guutaman.

Diddamii Tokkeessoo

- ⁵ Nami qaroon hunna jadduu qaba;
nami beekkumsa qabulle jabeenna dabalata.
⁶ Lolaaf bayiisaaf qajeelcha,
injifatiisaafille gorsitoota hedduu barbaachisa.

Diddamii Lammeessoo

- ⁷ Nama gowwa'aaf qarummaan akka malee ol fagaatti;
inni addee mari'ii keessatti
afaan ifii hin saaqatu.

Diddamii Sadeessoo

- ⁸ Nami waan hantuu godhiisaaf mala dhowu,
inni, «Malticha» jedhamee beekkama.

- ⁹ Malli gowwa'aa cubbu'u;
namooti nama murgu hin jibban.

Diddamii Arfeessoo

- ¹⁰ Ati bara rakko'oo keessa yoo raafante,
jabeenni keeti attam attam diqqa'a!

Diddamii Shaneessoo

- ¹¹ Worra gara du'aa geeffamanu baasi;
worra gara qalamiisaa tintimanu deebisi.
¹² Ati, «Nuuti marroo waan kanaa hin beenne» yoo jette,
ka gadhaa namaa qorqoru kana hin hubatuu ree?
Ka jiruu teeti eegu hin beekuu ree?
Inni nama tokko tokkoofuu
akka hujii isaatitti gatii isaaf hin kaffaluu ree?

Diddamii Jayeessoo

- ¹³ Ilma kiyya, dammi dansaa waan te'eef,
damma nyaadhu;
nadhiin dhaaba dammaa keessaa sitti hin mi'ootti.
¹⁴ Qarummaalle lubbuu teetiif
akkuma san akka mi'oottu beeki;
ati yoo isii dhaggatte,
gara fuula duraa addii qadda;
addiin teetille hin baddu.

Diddamii Torbeessoo

- ¹⁵ Akka nama hama'aa
mana nama balcha'aa dhokattee hin gaadin.
Mana isaa irralle'etti hunnaan hin ka'in.
¹⁶ Nami balchaan yennaa torba jigulle deebi'ee hin ka'a;
nami hamaan ammoo badii keessa bu'a.

Diddamii Saddeetessoo

- ¹⁷ Yennaa diinni keeti jigu hin gammadin;
yennaa inni gufatulle gadhaan keeti hin firinxiixin.

- 18 Itti gammadiisa keeti yoo dhagge,
Mootiin Waan Maraa hin jaalatu;
aarii ifii isa irraa hin deebisa.

Diddamii Sagaleessoo

- 19 Waan namooti hamaan hujanu hin qoxxisin;
yookiin hamoolee hin hinaafin.
20 Nami hamaan addii gara fuula duraa hin qabu;
issaan nama hama'aalle hin dhaama.

Soddomeessoo

- 21 Ilma kiyya, Mootii Waan Maraatii fi mooticha sodaadhu;
worra finqilaa woliin jaala hin te'in.
22 Mootiin Waan Maraatii fi mootichi
dedhuma badii worra finqilaa irratti hin fidan;
badii isaan fidanu eentu beeka ree?

Jecha Qaro'oo Ka Dhibii

- 23 Isaan kunille jecha qaro'oo ti:
Muraa keessatti nama wol caalchisuun dansa'aa moti.
24 Nama hama'aan, «Ati yakkaa hin qaddu» nama jedhu,
kolbaan hin abaarti;
gosi biyya adda addaalle hin jibbiti.
25 Worra nama hamaa xixuuf ammoo
wonni dansaan hin teeti;
eebbi dansaalle isaan irratti hin bu'a.
26 Deebii dhuga'aa deebisuun,
akka sunqaa hidhi'ii ti.
27 Hujii alaa fixadhuu,
fichaa keeti qopheeffadhu;
achiin duuba mana keeti ijaaradhu.
28 Sababa malee nama irratti dhugaa hin bayin
yookiin hidhii teetiin nama hin sobin.
29 Ati, «Waanuma nami na godhe, anille isa hin godha;
gatuma hujii isaa isaaf hin deebisa» hin jedhin.
30 Ani fichaa nama booseyaa keessa,
oorruu woyni'ii ta nama qalbii hin qannee
keessa dabaree deeme.
31 Addee mara qoreen itti latteerti;
shuqunaan lafa golliteerti;
dalleenni dhaka'aalle irraa jigeera.
32 Ani waan kana ilaalee itti yaadee,
waan dhagge kana irraa barumsa dhaggadhe:
33 Ati yennaa diqqoo isi'ii rafii,
yennaa diqqoo isi'ii mugii,
foorfatiisaaf yennaa diqqoo isi'ii
harka wol irra naqadhu.
34 Garuu hiyyuun akka saantu'uu,
beelti akka nama meya lolaa hidhatee
sitti hin dhufan.

25

Jecha Qarummaa Solomoonii Ka Dhibii

- 1 Isaan kunille fakkeenna Solomoonii ka dhibii,
ka qondaaltoti Hisqiyaasii mootii

- Yihuda'aa barreeffama irraa garagalchane.
- ² Gofa woyii dhossuun ulfinna Waaqaa ti;
gofa woyii qoratane baasuun
ulfinna moototaa ti.
- ³ Akkuma ol-gubbaan ol fagaattu
akkuma lattille gaddi fagaattu,
yaadi moototaalle qorqoramuu hin dande'u.
- ⁴ Ka meetii irraa meya haju meetii qulluu akka qabaatu,
ati meetii san irraa xurii kaasi.
- ⁵ Barcumaan mootumma'aa
balchumma'aan akka dhaabbatu,
nama hamaa addee mootiin jiruu kaasi.
- ⁶ Mootii duratti ol ifi hin qabin;
nama guddaa ifi hin fakkeessin.
- ⁷ Mootichi nama guddaa duratti
addee gad aantuu sii kenniisaa mannaa,
addee ol aantuu sii kennu woyya.
- ⁸ Waan tokko ilumaan dhaggite'eef
ariifattee gara mura'aa hin dhikeessin;
nami dhibiin dokonkora keeti yoo mirkaneesse,
ati dhuma irratti maan teeta ree?
- ⁹ Haajaa keetiif nama waliin yennaa falmattu,
gofa nama dhibi'ii hin mudhisin.
- ¹⁰ Yoo akkas hin te'in nami waan kana dhage'u si qaanessa;
maqaan keeti ka bade sun ijjumaa si'iif hin deebi'u.
- ¹¹ Dubbiin yennaa isi'iititti dubbatantu,
akka qumhaa worqi'ii ka qorii meeti'ii keessaa ti.
- ¹² Xixxaan nama qaro'oo nama isa dhage'uuf,
akka worqii gurraa yookiin meya seesaa
ka worqii qulluu irraa hujamee ti.
- ¹³ Bisaan dhakaa roobaatiin qabbanowe,
yennaa midhaan galcha'aa
akkuma gadhaa namaa qabbaneessu,
ergantooti addatamootille
nama isaan ergatuuf akkasuma;
isaan yaada goottolee ifii hin foorfachiisan.
- ¹⁴ Nami kennansa namaaf hin kennineen ifi jaju,
akka duumensaa fi qilleensa bokkeya hin qannee ti.
- ¹⁵ Nami ossa qabu
bulchaa biyyaa tokko gadhaa hin laaffifata;
arrabi dansaan nama mataa jabaatu laaffisa.
- ¹⁶ Damma yoo dhaggatte,
haga si'iif barbaachisu qofa nyaadhu;
akka malee nyaattu si diddissa.
- ¹⁷ Si bagee waan si jibbuuf,
miilli keeti mana ollaa keetiititti hin daandin.
- ¹⁸ Nami dharaan dhugaa nama irratti bayu,
akka ulee jirmaa yookiin
akka shallaaga'aa yookiin
akka daaya qara qabuu ti.
- ¹⁹ Rakkinna keessa nama hin addatannetti addatiis,
akka nama ilkaan tacho'etti

- yookiin miila laashowetti addatuu ti.
- ²⁰ Nama gaddeef faaruu faarsuun,
akka nama guyyaa boojji'ii
woyaa isaa isa irraa fuudhanee ti
yookiin akka soodda mada'atti naqanee ti.
- ²¹ Diinni keeti yoo beelote sagalee nyaatu kenniif;
yoo dheebotelle bisaan unu kenniif.
- ²² Tana godhiisaan gaabbee akka inni qaanowu hin goota;
Mootiin Waan Maraalle gatii si'iif hin kaffala.
- ²³ Akkuma qilleensi kaabaa bokkeya fidu,
arrabi hamatu ila aari'iin nama ilaaltu hin fida.
- ²⁴ Niitii dubbatittii woliin le'iisaa mannaa,
roga heellichoo manaa irra le'uu woyya.
- ²⁵ Oduun dansaan biyya fago'oo,
akkuma bisaan qabbanowaa
lubbuu dheebotte dheebuu baasuu ti.
- ²⁶ Nami balchaan nama hama'aaf karaa kennu,
akka madda boorayee,
yookiin akka bisaan boollaa
ka xurayee ti.
- ²⁷ Damma akka malee nyaatiis dansa'aa moti
yookiin ulfinna mataa ifii barbaadatiisi ulfinnaa moti.
- ²⁸ Nami ifi qabatiisa hin dandeenne,
akka qachaa guddicha dalleenni dhaka'aa irraa jigee ti.

26

- ¹ Dhakaan roobaa bona keessa,
bokkeenni yennaa midhaan galfatanuuf akkuma hin teene,
ulfinnille gowwa'aaf hin te'u.
- ² Abaarsi akkasumaan nama abaaranu,
akkuma sinbirroota koolaan asii fi achi kaatuu ti malee,
nama tokkole hin miidhu.
- ³ Licheen fardaaf,
bixaalli gaange'eef akkuma barbaachisu,
uleen dudda gowwa'aatiif hin barbaachitti.
- ⁴ Atinuu akka isaa akka hin teene,
gowwa'aaf akka gowwummaa isaatitti
deebii gowwittii hin deebisin.
- ⁵ Nami gowwaan qaroo akka ifi hin seene,
akkuma gowwummaa isaatitti deebii isaaf kenni.
- ⁶ Nami nama gowwaa ergatu,
akka nama miila ifi irraa muree rakkinna ifitti fiduu ti.
- ⁷ Fakkeenni afaan gowwa'aa keessaa bawu,
akka miila naafatee rarra'uu ti.
- ⁸ Nama gowwa'aaf ulfinna kenniis,
akka nama looyya'atti dhakaa hidhuu ti.
- ⁹ Fakkeenni afaan gowwa'aa keessaa bawu,
akka qoree harka nama machowa'aa keessa jirtuu ti.
- ¹⁰ Nami nama gowwaa yookiin nama karaa deemuu qaxaru,
akka nama daaya akkuma dhagge
darbatee nama dhagge madeessuu ti.
- ¹¹ Sareen diddiga ifiititti akkuma deebitu,
gowwaalle gowwummaa ifiititti hin deddeebi'a.

- 12 Nama qaroo ifi sewu dhaggiteertaa?
Isa caalaa gowwa'atti addii qaba.
- 13 Nami booseyi, «Neenqi karaa keessa jira!
Neenqi karaa guddaa keessa jira» jedha.
- 14 Miilli saanqa'aa iloo keessa akkuma garagaggalu,
nami booseyille taqee ifii irra garagaggala.
- 15 Nami booseyi harka ifii qorii keessa hin keya;
garuu gara afaan ifii deebifatiisa guddoo dadhaba.
- 16 Nami booseyi,
namoota torba ka hubanti'iin deebii deebisanu caalaa
qaroo ifi seya.
- 17 Nami akkasumaan dubbii namaa keessa galu,
akka nama saree karaa ideentu gurra qabuu ti.
- 18 Akkuma maraataan umeessaa ibiddaatii fi
daaya nama ijjeesu namatti gad lakkisu,
19 nami nama gowwoonsee,
«Ani hin taphadhe» jedhulle akkasuma.
- 20 Qoraan yoo hin jiraatin ibiddi hin dhaama;
hamiin yoo hin jiraatin lolli hin hafa.
- 21 Cileen kashila,
muki ibidda akkuma gabbisu,
nami dubbii tuttuqu lola kaasa.
- 22 Jechi hami'ii akka tuuqata mi'owuu ti;
gara keessa namaa gad seena.
- 23 Nami afaan ifitiin dansaa fakkaatee,
gadhaa ifii keessaa yaada hamaa qabu,
akka meya faaraa ka meetii itti gonfanee ti.
- 24 Nami kijibu afaaniin nama sossoba;
gadhaa ifitiin hantuu yaadata.
- 25 Yaadi hamaan torba
waan gadhaa isaa keessa guuteeruuf,
yennaa inni afaan laafee dubbatu,
isa hin dhugeeffatin.
- 26 Kijibummaa ifii maltumma'aan dhoffatulle,
hammeenni isaa ammoo gumii
keessatti diidatti hin baya.
- 27 Nami boolla namaaf qotu,
ifumaafuu keessa hin bu'a.
Nami dhakaa namatti konkolaachisulle,
dhakaan sun deebi'ee isuma irra hin konkolaata.
- 28 Arrabi dharaamessi worruma ifiifuu miidhe jibba;
afaan sobaan kookkisulle badii namatti fida.

27

- 1 Waan Guyyaan fidu waan hin beenneef,
waan boru te'uun ifi hin jajin.
- 2 Nami si jajuu ti malee, ati ifi hin jajin;
nami dhibiin si jajuu ti malee, afaan keetiin ifi hin jajin.
- 3 Dhakaan hin ulfaata;
maansille ba'a'a.
Nunnusnaan gowwaan tuttuqee nama aarsu ammoo,
isaan lachuu caalaa hin ulfaatti.
- 4 Mufiin gadhi-jabeenna;

- aariin lola'a;
hinaaffaa dura ammoo
eentu dhaabbatuu dande'a?
- ⁵ Jaalala dhokate caalaa,
xixicha mudhatu woyya.
- ⁶ Sunqaa diinaatii mannaa,
jaalli si madeessu woyya.
- ⁷ Nama quufe,
dammi itti bushowa;
nama beelote ammoo
wonni hadhowuuyyuu itti mi'owa.
- ⁸ Nami qe'ee ifii keessaa baye,
akka sinbirree mana ifii keessaa baatee ti.
- ⁹ Fiquire'ee fi qayyi nama gammachiisan;
gammachiisiis jaalaalle
gorsa dansaa isaa irraa madda.
- ¹⁰ Jaalota teetii fi jaalota abbaa keetii hin lakkisin;
yennaa rakkinnaa mana obboleessa keetii hin dhaqin;
obboleessa fagoo jiruu mannaa,
ollaa dhikoo jiru woyya.
- ¹¹ Ilma kiyya,
nama na arrassuuf deebii kennuu akka ani dande'u,
ati qaroo te'i;
gadhaa kiyyalle gammachiisi.
- ¹² Nami qalbeeffataan waan hantuu dhaggee duraa baqata;
nami hubantii hin qanne ammoo ittuma ideemee,
rakkoo keessa seena.
- ¹³ Nama alaga'aaf wobii te'e woyaa irraa mulqadhu;
haga inni waan alagaan fudhate san deebisutti
woyaa san qabadhu.
- ¹⁴ Nami barii ganamaan ka'ee,
qoonqoo ol qabatee nama yoo eebbise,
eebbi sun abaarsa nama sanitti fakkaata.
- ¹⁵ Niitiin dubbattittiin akka mana
guyyaa roobaa dhim'isaa ooluu ti.
- ¹⁶ Isii ittisiis qilleensa ittisiisa,
yookiin zayitii harkaan qabiisa.
- ¹⁷ Akkuma sibiilli sibiila cabbu,
namille nama cabba.
- ¹⁸ Nami muka harru'uu kunuunsu
midhaan isi'ii hin nyaata;
nami gootaa ifii eegulle
ulfinna hin dhaggata.
- ¹⁹ Akkuma bisaan fuula namaa mudhisu,
yaadi namaalle eennummaa namaa mudhisa.
- ²⁰ Addeen worri du'e jiruu fi
addeen badi'ii ijjumaa hin quuttu;
ilti namaalle ijjumaa hin quuttu.
- ²¹ Meeti'ii fi worqiin addee itti baqisiisanu keessatti
akkuma haga ilaallatamanu,
namille leellifamiisaan haga ilaalama.
- ²² Gowwaa akka midhaanii
mooyye'etti tuma'aan yoo tuntelle,

- gowwummaa isa keessaa baasuu hin dandeettu.
²³ Hoolee teeti haala attamii keessaa akka jirtu
 midhassii beeki;
 loon keetille midhassii tiffadhu.
²⁴ Sababille durummaan haga bara baraa hin jiraatu;
 kallachille dhalootaa dhalootatti hin dabaru.
²⁵ Marri gogaan haamamee,
 marri haarenni yennaa latu,
 marri koobota irraa yennaa wolitti qabamu,
²⁶ buruusoo hoolota teetiitiin daara hin baata;
 re'oota teetille'een fichaa hin bitatta.
²⁷ Soorata keetiif, soorata maatii teetiitiif,
 soorata tajaajiltoota teetiifille ka gewu,
 aanan re'e'ee hin qabaatta.

28

- ¹ Nami hamaan adoo nami hin ari'in baqata;
 nami balchaan ammoo akka neenqaa ifi addata.
² Kolbaan yennaa fiqila kaatu,
 bulchitooti isi'ii hin heddatti;
 nama hubata'aa fi beekaa yoo qabaatte ammoo
 mootummaan isi'ii jabaattee hin dhaabbatti.
³ Bulchaan hiyyeessa cunqursu
 akka bokkeya midhaan balleessuu ti.
⁴ Worri seera lakkisu nama hamaa leellisa;
 worri seera eegatanu ammoo isaaniin morma.
⁵ Nami hamaan haqa hin beeku;
 worri Mootii Waan Maraa barbaadatu ammoo
 guutumaa guutu'utti haqa beekan.
⁶ Dureessa ideensi isaa micciirama'aatii mannaa,
 hiyyeessa komii hin qanne woyya.
⁷ Ka seera eegu ilma qalbeeffata'a;
 ka gadhitoo woliin jaalomu ammoo
 abbaa ifii salphisa.
⁸ Nami liqaa dhala gudda'aatiin qabeenna ede'atu,
 nama hiyyeessaa nawuuf hin kuusa.
⁹ Nama seeraaf hin ajajanne,
 daadimati isaatuu akka malee hin jibbisiisa.
¹⁰ Nami nama qajeelaa karaa hama'atti geessu,
 boolla ifumaa qote keessa hin bu'a;
 nami komii hin qanne ammoo
 waan dansaa hin dhaala.
¹¹ Nami dureessi qaroo ifi seya;
 hiyyeessi hubantii qabu ammoo
 qorqoree keessa isaa hin beeka.
¹² Nami balchaan yennaa injifatu,
 martinuu hin gammadan;
 nami hamaan yennaa baallii qabatu ammoo
 namooti hin dhokatan.
¹³ Nami cubbuu ifii dhoffatu,
 hin milkowu;
 nami cubbuu ifii faaci'atuu fi ka isii lakkisu ammoo
 marartii hin dhaggata.

- 14 Nami yennaa mara Mootii Waan Maraa sodaatu
ka gammade;
nami mataa jabaatu ammoo rakkinna keessa gala.
- 15 Bulchaan hamaan worra qarqaarsa hin qanne irratti
akka neenqa dhangaa dhowuu
yookiin akka doobbaa hiixatee woy qabuu ti.
- 16 Bulchaan hubantii hin qanne
akka malee nama cunqursa.
Ka bu'aa haqa hin te'in jibbu ammoo
bara dheeraa hin le'a.
- 17 Nami nama ijjeese,
haga du'utti baqataa hin le'a;
nami tokkolle isa hin qarqaarin.
- 18 Nami komii hin qanne waan hantuu irra hin bu'u;
nami micciiramaan ammoo dedhuma jiga.
- 19 Nami lafa qotatu sagalee bacaa hin qabaata;
nami waan bu'aa hin qanne hordofu ammoo hin deega.
- 20 Nami addatamaan guddoo hin eebbifama;
nami durumma'aaf ariifatu ammoo
adoo hin adabamin hin hafu.
- 21 Nama wol caalchisuun dansa'aa moti;
garuu nami bixee daabbo'oo takkatti'iif jedhee
dokonkora huja.
- 22 Nami donni duroomiisaaf ariifata;
hiyyuun akka isa eegattu hin beeku.
- 23 Nama afaaniin nama kookkisu caalaa,
ka balleessaa namatti himée nama xixutti
dhuma irratti saadama.
- 24 Nami abbaa ifii yookiin haadha ifii saamee,
«Kun dokonkoraa moti» jedhu,
inni jaala nama woy balleessuu ti.
- 25 Nami joljolaan lola kakkaasa;
nami Mootii Waan Maraatitti addatu ammoo
hin milkowa.
- 26 Nami ifitti addatu gowwa'a;
nami qarumma'aan deddeebi'u
ammoo waan hantuu irra hin bu'u.
- 27 Nami hiyyeessaaf kennu womaa hin dhabu;
nami hiyyeessa ilaalee lakkisu ammoo
abaarsa hedduu fudhata.
- 28 Yennaa namooti hamooleen baallii fudhatanu,
kolbaan hin dhokatti;
yennaa isaan badanu ammoo
balchooti hin bacatti.

29

- 1 Nami yennaa hedduu xixameen duuba didee mataa jabaatu,
cannana fayyuu hin dandeenne dedhuma caba.
- 2 Balchooti yennaa baallii fudhatanu,
kolbaan guddoo gammadi;
yennaa nami hamaan bulchu
ammoo kolbaan hin aaddi.
- 3 Nami qarummaa jaalatu,
abbaa ifii gammachiisa;

- nami jaala sagaagaltu'uu te'u ammoo
qabeenna ifii bittinneessa.
- ⁴ Mootiin haqa muriisaan biyya ifii hin jabeessa;
ka safuu fudhatiisaaf joljolu ammoo
biyya ifii hin balleessa.
- ⁵ Nami afaan calla'aan nama kookkisu,
fonxorroo miila ifiititti afa.
- ⁶ Nami hamaan cubbuu ifiitiin qabama;
nami balchaan ammoo hin faarfata;
hin gammadalle'e.
- ⁷ Nami balchaan marroo haqa hiyyeessaatiif hin haajama;
Nami hamaan ammoo haajaa hin qabu.
- ⁸ Namooti namatti murganu qachaa jeeqan;
namooti qaroon ammoo aarii qabbaneessan.
- ⁹ Nami qaroon nama gowwaa woliin gara seeraa yoo dhaqe,
gowwaan sun hin mufata
yookiin hin murga;
nageennille hin jiraatu.
- ¹⁰ Namooti dhiiga namaa dhangalaasanu,
nama dhugaammessa jibban;
nama qajeelaa ijjeesuu barbaadan.
- ¹¹ Nami gowwaan yaada aarii ifii mara dubbata;
nami qaroon ammoo ossaan ifi qabataa dubbata.
- ¹² Bulchaan tokko oduu dharaa yoo caqase,
qondaaltoti isaa martinuu hamoollee hin te'an.
- ¹³ Mootiin Waan Maraa isaan lamaaniifuu ila waan kenneef,
hiyyeessii fi ka hiyyeessa cunqursulle tanaan woluma qixxe'e.
- ¹⁴ Mootiin hiyyeessaaf haqaan yoo mure,
barcumaan mootummaa isaa
bara dheeraa jabaatee hin dhaabbata.
- ¹⁵ Ijoollee xixanee adabuun qarummaa kennitiif;
ijoolleen gad lakkifante ammoo haadha ifii qaanessiti.
- ¹⁶ Yennaa worri hamoolleen baallii fudhatanu
cubbuun hin bacatti;
balchooti ammoo jinnana isaanii hin dhaggan.
- ¹⁷ Ijoollee teeti adabi;
isaan foora si'iif hin kennan;
gadhaa keetille hin gammachiisan.
- ¹⁸ Addee mudhiin hin jirre,
kolbaan seera malee teeti;
nami seera eegatu ammoo ka gammade.
- ¹⁹ Tajaajilaan afaan calla'aan hin adabatu;
inni yoo hubateeyyuu deebii hin kennu.
- ²⁰ Nama dubbii ariifatu dhaggitaa?
Isa caalaa nama gowwa'atti addii qaba.
- ²¹ Nami tajaajilaa ifii ijoollummaa isaatii jalqabee qananiisu,
dhuma irratti gadda ifitti fida.
- ²² Nami aarameessi lola kaasa;
nami dafee mufatu cubbuu hedduu huja.
- ²³ Nami ol ifi qabu salphinna ifitti fida;
nami gad ifi qabu ammoo ulfinna dhaggata.
- ²⁴ Nami jaala hattu'uu te'u ifi jibba;

- kakatee dhugaa akka bayuuf hin gaafatama;
 dhugaa bayiisaaf ammoo inni itti hin gamu.
²⁵ Nama sodaatiis tiyyoo keessa nama seensisa;
 nami Mootii Waan Maraatiitti addatu ammoo nageyaan le'a.
²⁶ Namooti hedduun bulchaa duratti
 fudhatama dhaggatiisa barbaadan.
 Nami ammoo muraa haqaa
 Mootii Waan Maraa biraa dhaggata.
²⁷ Nami balchaan nama hamaa jibba;
 nami hamaalle nama qajeelaa jibba.

30

Jecha Aguurii ilma Yaaqee

- ¹ Jechi kun jecha Aguurii ilma Yaaqee ti;
 nami kun Itii'elitti,
 Itii'elii fi Ukaalitti dubbate,
² «Ani nama mara caalaa daafana'a;
 hubantii nami qabu ani hin qabu;
³ ani qarummaa tokkolle hin baranne;
 ani marroo Waaqa Woyyichaalle womaa hin beeku.
⁴ Ka gara ol-gubba'aa ol dhaqee gad deebi'ee dhufe eennu?
 Ka qilleensa harka ifitiin wolitti qabe eennu?
 Ka bisaan woyaa ifitiin mare eennu?
 Ka qaccee lafaa mara jabeessee dhaabe eennu?
 Maqaan isaa eennu? Maqaan ilma isaa eennu?
 Ati yoo beettu teete,
 natti himi!
- ⁵ «Jechi Waaqaa marti dhuga'a;
 inni worra gara isaa baqate maraaf wonte'e.
⁶ Jecha isaa irratti hin ede'in;
 yoo akkas hin te'in inni si xixa;
 dharaamessalle teetee hin dhagganta» jedhe.
- ⁷ «Ee Mootii Waan Maraa,
 ani waan lama si kadhada;
 adoo ani hin du'in
 waan kana lamaan na hin dhooggatin.
⁸ Sobaa fi dhara dubbatiisa na irraa fageessi;
 sagalee guyyuma guyya'aan naa barbaachittu naaf kenni malee,
 durumma'aa fi hiyyummaalle naa hin kennin.
⁹ Yoo akkas hin te'in,
 ani quufee si hin mormadha;
 «Mootiin Waan Maraa eennu inni?» si'iin hin jedha;
 yookiin hiyyoommadhee,
 hatee maqaa Waaqa kiyyaa, maqaa keeti hin salphisa.
- ¹⁰ «Tajaajilaan akka si hin abaarre,
 atille akka hin rakkanne,
 marroo tajaajilaa tokkoo
 gootaa isaatitti isa hin hamatin.
¹¹ Namooti abbaa ifii abaaranu,
 haadha ifille ka hin saadanne jiran.

- 12 Worri qulluu ifi seyanee,
ka battummaa ifii
irraa hin qulqulloomin hin jiran.
- 13 Worri ilaalcha kooraa qabanu,
ka ila tuffi'iitiin nama ilaalanu,
14 hiyyeessa lafa irraa,
rakkataa odduu ilmaan namaatii
nyaatanee balleessiisaaf,
worri ilkaan isaanii shallaagaa,
a'oon isaaniille billowa te'e jiran.
- 15 «Ulaa'ulti ijoollee durraa
ta, «Kenni! Kenni!»
jedhaa iyyitu lama qaddi;
«Ijjumaa quufe» ka hin jenne
waan saditti jira;
ta arfeesso'oolle ijjumaa «Na geye»
hin jettu:
16 isaanille, addee worri du'e jiru,
gadaamessa maseena,
lafa bisaan hin quunnee fi
ibidda ijjumaa, «Na geye» hin jenne.
- 17 «Nama abbaa ifiititti murguu fi
ajaja haadha ifille tuffatu,
harraaqessi gammoojji'ii ila isaa
isa keessaa hin fuudha;
rumichille isa hin nyaata.
- 18 «Wonni na baaseffachiisu sad yookiin
afur ta hubatiisa hin dandeennetti jiraayyu;
19 isaanille, karaa risa'aa ka gubbaa irraa,
karaa bofaa ka rassaa irraa,
karaa hobolo'oo ka abbaayaa irraatii fi
karaa dhiirtii fi dubartiin wol jaalatanu.
- 20 «Karaan dubartii gaarayyeeffattu'uu kana:
Isiin nyaattee afaan ifi haxowattee,
«Ani womaa dokonkora hin hunye» jetti.
- 21 «Latti waan sadiiniin yookiin afuriin tachooti;
dandeetteelle hin ba'attu;
22 isaanille, garbichi yennaa mootii te'e,
gowwaan yennaa quufe,
23 dubartiin jibbatante yennaa dhirsa dhaggattee fi
garbittiin yennaa addee giittii ifi fudhate.
- 24 «Wonni didiqqoon afur,
ka guddoo qaroo te'an biyya lafaa irra jiran:
25 mixaan hunna hin qabu,
te'uu malee sagalee ifii bona wolitti qabata;
26 Osoleen hunnaa hin qaddu,
te'uu malee odduu rassa'aatitti galti;

- 27 Awwaannisi mootii hin qabu,
te'uu malee akka loltootaa seeraan ideema.
- 28 Qarcoon* harkaan qabamuu dandeetti;
te'uu malee mana mootumma'aa keessatti dhagganti.
- 29 «Wonni ideensa tolanu sad yookiin afur
ka arnya ulfinnaa qabanu jiran:
- 30 Neenqa bineensota mara keessaa jaba'aa,
ka waan mara irraa duubatti hin deebine;
31 kormi lukku'utii fi
korbeessi re'e'ee ka bondhooranu,
mootii loltoota ifitiin marfamee ideemu.
- 32 «Gowwaa teetee, yoo ol ol ifi qadde,
yookiin hantuu yoo yaadatte,
afaan keeti qabadhu.
- 33 Akkuma aanan raasiis dhadhaa baasu,
akkuma funnaan micciiriis dhiiga baasu,
tuttuqanee nama aarsuun lola kaasa» jedhe.

31

Gorsa Mootichaaf Kenname

- 1 Jechi asii gadii kun ka haati Lemu'elii mootichaa isa barsiitte:
- 2 «Ee ilma kiyya,
ilma gadaamessa kiyyaa,
ilma Waadaa kiyyaa,
3 hunna teeti dubartoota irratti hin fixin;
yennaa teetille dubartoota mootota balleessitu irratti hin fixin.
- 4 «Ee Lemu'el, moototi daadhii woyni'ii unuu hin qabanu;
bulchitootille untoo nama macheessitu unuu hin qabanu.
- 5 Isaan yoo unane,
seera hin dedhan;
worra cunqurfame mara haqa hin dhooggan.
- 6 Untoo nama macheessitu,
nama badiisatti jiruuf,
daadhii woyni'iille nama farra hantuu keessa jiruuf kenni.
- 7 Isaan unanee hiyyummaa ifii dedhanuu ti;
farra ifille deebi'anee hin qaabatin.
- 8 «Ati worra ifiif dubbatuu hin dandeenneef dubbadhu;
worra qarqaarsa hin qanne maraaf falmadhu.
- 9 Dubbadhu;
dhugaa muri.
Haqa hiyyeessaatii fi
rakkata'aatiif falmadhu» jette.
- Niitii Amala Dansaa qaddu*
- 10 Niitii qalbii qaddu eentu dhaggatuu dande'a?
Isiin dooqa diimaa caalti.
- 11 Dhirsi isi'ii gadhaa tokkochaan isii addata;
Inni waan tokkolle hin dhabu.

* 30:28 Qarcoon: Lafa tokko tokkotti lootuu jedhanti.

- 12 Bara jiruu isi'ii mara waan dansaa isaaf gooti malee,
waan hantuu isa irratti hin hujju.
- 13 Isiin rifeensa hoole'eetii fi quncee talba'aa barbaaddee,
harka ifitiin woyaa dhootti.
- 14 Isiin akkuma hoboloota gugurdoo daldaltoota,
biyya fago'oo irraa sagalee fiddi.
- 15 Isiin ganama adoo latti hin bari'in kaatee,
maatii ifitiif sagalee kenniti;
durra tajaajiltoota ifitiifille
hujii isaanii itti qooddi.
- 16 Isiin fichaa qorqortee bitatti;
bu'aa hujii harka ifitiin
muka woyni'ii dhaabbatti.
- 17 Isiin hunnaan hujii ifii hujatti;
irreen isi'iille hujii'if jaddu'u.
- 18 Hujiiin isi'ii bu'aa akka qaddu hin beetti;
issaan isi'iille halkan hin dhaamu.
- 19 Harka ifitiin fuutaa qabatti.
Quba ifitiin liqaaqaa irbiti.
- 20 Isiin hiyyeessaaf hin kenniti;
rakkataalle hin qarqaarti.
- 21 Maatiin isi'ii martinuu
woyaa qorra nama irraa dhooggitu waan qabanuuf,
yennaa rooba dhaka'aa isaaniif hin yaaddottu.
- 22 Isiin woyaa tagee ifii irra afattu dhowatti;
isiin woyaa dansaa quncee talba'aa irraa hujantee fi
woyaa dhiillee uffatti.
- 23 Dhirsi isi'ii jaarsolee biyyaa odduu,
badhinna karra qacha'aa yennaa tee'u ulfinna qaba.
- 24 Isiin quncee talba'aa irraa woyaa dhoottee gurgurti;
daldaltootaafille hiituu gurgurti.
- 25 Isiin hunnaa fi ulfinna akka woya'aa uffatti;
bara dhufaaruu itti gammaddi.
- 26 Isiin qarumma'aan dubbatti;
afaan isi'ii keessa barsiisa dansa'atti jira.
- 27 Isiin jireenna maatii ifii akka dansaa eeddi;
isiin booseyaa moti.
- 28 Ijoolleen isi'ii lafaa kaatee,
«Gammadee» jettee isii waanti;
abbaan manaa isi'iille akkasuma jedhaa, isii leellisaa,
- 29 «Dubartooti hedduun waan dansaa hujaneeran;
ati ammoo isaan mara hin caalta» jedhaan.
- 30 Miidhagiis nama soba;
dansummaan hin baddi;
dubartiin Mootii Waan Maraa sodaattu ammoo hin leellifanti.
- 31 Bu'aa hujii isi'ii'itiif badhaasa kenna'aaf!
Hujiiin isi'ii badhinna karra
qacha'aatitti isii leellittuu ti.

Kitaaba Lallabaa Seensa

Kitaab Lallabaa, yaada nama gaaffi'ii fi qorataan yaada haareya fidu, ka jiruun namaa attam gabaadu'uu fi bu'aa bay'iin ta guutante teetee, muraa haqa hin te'iniin ta wol xaxxee fi dadhabbi'iin ta guutante akka teete gad fageennaan hubatee, «Jiruun namaa bu'aa hin qaddu» jedhee muummesse tokko qaba. Nami gaaffi'ii fi qorataan yaada haareya fidu kun, hujii Waaqaa ta hiree namaa toowattu qalbeeffatuu dadhabeera. Te'uu malee kolbaan bara le'ii ifii haga dandeette jabaattee akka hujjuu fi kennansa Waaqaatitti akka gammaddu gorsa kenna.

Yaad namicha gaaffi'ii fi qorataan yaada haareya fidu kanaa hedduun woliif masaanummaa qaban; addii kutatiisalle'een guutamaneeran. Te'uu malee kitaab kun Kitaaba Woyyicha keessatti dhaggamiisi isaa, dhugeeffannaan Kitaaba Woyyicha irratti hundootte, ta dhibii lakkisiitii kitaaba yaada masaanumma'aa fi mamaan guutame qabu kana haga qabattutti badhoo akka teete mudhisa. Kitaab kun jiruu namaa akka daaw'iti'ii waan mudhisuuf, namooti hedduun ittiin jajjabaataneeran. Kitaabummaan Woyyichi tokkochi kun Waaqa jiru'uuf hiikkaa guddoo kennutti addii godhatiisa akka dande'anu ka gorsu akka te'e hubataneeran.

Haadhoo Dubbi'ii

Hiikkaa Jiru'uu1:1–2:26

Jedhii Marroo Jiru'uu3:1–11:8

Gorsa Muumme'ee11:9–12:8

Dubbii Gugurdoo12:9-14

Wonni Martinuu Bu'aa Hin Qaddu

¹ Jechi lallabaa ilma Daawitii, ka Yerusaalem keessatti mootii te'ee, kanatti aanee jira.

² Lallabaan kun, «Wonni martinuu bu'aa hin qaddu! Bu'aa hin qaddu! Ijjumaa bu'aa hin qaddu!» jedha.

³ Nami biyya lafaa irratti waan itti elowu maraaf, bu'aa maan dhaggata?

⁴ Dhalooti tokko hin dabara; dhalooti hin dhufa. Latti ammoo haga bara baraa hin jiraatti.

⁵ Aduun hin baati, hin seentille'e; gara addee baateetitti deebi'iisaaf hin ariifatti.

⁶ Qilleensi gara kibbaa dhowa; gara kaabaalle hin deebi'a. Maree, maree gara dhufetti hin deebi'a.

⁷ Lagi martinuu gara abbaaya'aa yaa'an; te'uu malee abbaayaan ijjumaa hin guuttu. Lagooti sun gara addee dhufanee, ammalle achitti hin deebi'an.

⁸ Wonni marti haga nami dubbatuu dadhabutti nama hifachiitti. Ilti ilaaltee hin quuttu; gurrille dhage'iisaan hin guutamu.

⁹ Woma dur te'eerutti ammalle te'uuf jira; woma dur hujameerutti ammalle hujamu'uuf jira. Biyya lafaa irra wonni haaretti hin jirtu.

¹⁰ Wonni nami, «Ilaa! Wonni kun waan haareya» jedhuu dande'u jirtii? Wonni sun bara dheera'aan dura, duruuyyuu asuma jirti; isiin adoo nuuti hin dhalatiniin dura asuma jirti.

¹¹ Waan bara durii te'e nami qaabatu hin jiru; worri itti aanee dhufulle waan amma te'uu fi waan te'uuf jiru hin qaabatu.

Qarummaan Bu'aa hin Qaddu

¹² Ani, lallabaan Yerusaalemitti mootii Israa'elii te'eeraayyu.

¹³ Ani waan lafa irratti hujame mara qarumma'aan qorqoriisaaf itti yaade; ilmaan namootaa irratti Waaqi ba'aa attam attam ulfaattu fe'e!

¹⁴ Ani waan biyyaa lafaa irratti hujame mara ilaaleera; isaan martinuu bu'aa hin qabanu; akka nama qilleensa ari'ee ti.

¹⁵ Wonni micciiramaan qajeeluu hin dande'u; wonni hin jirrelle laakkowamuu hin dande'u.

¹⁶ Ani, «Kunoo, ani worra anaan dura Yerusaalemitti mootii te'e mara caalaa, nama guddaa te'eera; qarummaalle ede'adheera» jedhee yaade.

¹⁷ Achiin duuba ani qarummaa, maraattummaa, gowwummaalle gargar baasee beekiisaaf itti yaade; kunille ammoo akka nama qilleensa ari'ee akka te'e hubadhe.

¹⁸ Qarummaan akkuma bacattuun gaddi bacataa deema; beekkumsi akkuma bacatuun laaleffatisille bacataa deema.

2

Gammadi Bu'aa Hin Qabu

¹ Ani gadhaa kiyya keessatti, «Dhaqee ifi gammachiisa; hiikkaa gammadaa qorqoree beeka» jedhee yaadadhe; sunille ammoo waan bu'aa hin qanne.

² Ani, «Kolli gowwumma'a; gammadi maan namaa godha?» jedhe.

³ Qalbiin tiyya adoo qarumma'aan yaadattuu, ani daadhii woyni'iitiin ifi gammachiisiisaaf, gowwummaa hanqafatiisaaf wodhaane. Namooti bara diqqaa lafa irra le'anuu yoo hujane waan bu'aa isaaniif buusu, ani dhagguu barbaade.

⁴ Ani hujii gugurdoo hujee; mana hedduu ijaarradhe; muka woyni'iille dhaabbadhe.

⁵ Ani oorruu heddu'uu fi addee bashannanaa hedduu qopheeffadhe; isaan keessatti gosa muka midhaan buusu mara dhaabbadhe.

⁶ Mukoota guddatu san obaasiisaaf waan bisaan itti kuufamu hujadhe.

⁷ Ani garboota dhiiraatii fi dubarti'ii bitadhe; garboota dhibii ka mana kiyya keessatti dhalatanelle qabaayyu. Worra anaan dura Yerusaalem keessaa jiru caalaa loon bacaa, re'e'ee fi hoolee karra hedduu horadhe.

⁸ Ani meetii, worqii, karra moototaatii fi karra kutaa biyyaa wolitti qabadheera. Faarfattoota dhiiraatii fi dubarti'ii akkasuma gursumeeyyii ilmaan namootaa itti gammaddu bacaa qabaayyu.

⁹ Worra anaan dura Yerusaalem keessa jiru caalaa guddaa te'eera. Waan kana mara keessatti qarummaan anuma woliin jirtiyyu.

¹⁰ Waan ilti tiyyaa fi gadhaa kiyya halche mara dhaggadhe. Gadhaan kiyya Hujii tiyya maratti gammade; tun gatii eloo tiyya maraa ti.

¹¹ Te'uu malee waan harki kiyya hujee fi waan itti elowe maraayyuu yennaa ilaalu, bu'aa hin qaddu; akka nama qilleensa ari'ee ti; biyya lafaa irra wonni bu'aa qaddu hin jirtu.

¹² Maarre ani yaada kiyya gara qarummaa, maraattummaa fi gowwummaa qorqoriisaattitti deebifadhe. Nami mootii tokkoon duuba mootii te'uuf jiru, ka dur hujame caalaa maan hujuu dande'a ree?

¹³ Akkuma ifi dukkana caalu, qarummaan akka gowwummaa caaltu dhagge.

¹⁴ Nami qaroon waan isa dura jiru beeka; nami gowwaan ammoo dukkana keessa ideema; wonni isaan lamaanittuu dhufu ammoo tokkuma akka te'e hubadheera.

¹⁵ Achiin duuba ani gadhaa kiyya keessatti, «Eega wonni nama gowwa'atti dhufu natti dhufu te'ee, maaniif qaroo te'e ree?» jedhee yaadadhe; gadhaa kiyya keessatti, «Tunille bu'aa hin qaddu» jedhe.

¹⁶ Nami qaroon, akkuma nama gowwa'aa haga bara baraa hin qaabatamu; baroota dhufanu keessatti isaan lamaanuu hin dedhaman. Akkuma nama gowwa'aa, nami qaroolle hin du'a.

¹⁷ Wonni biyya lafaa irratti hujamu waan na gaddisiiseef, ani jiruu jibbe; wonni martinuu bu'aa hin qaddu; qilleensa ari'iisa.

¹⁸ Nama na duubaan dhufuuf waan lakkisuuf, ani waan biyya lafaa irratti itti elowu mara jibbe.

¹⁹ Nami na duubaan dhufu sun qaroo yookiin gowwaa te'uu isaa eentu beeka? Te'uu malee inni waan ani biyyaa lafaa irratti itti elowee qarumma'aan huje san irratti abbummaa hin qabaata. Tunille bu'aa hin qaddu.

²⁰ Maarre ani waan biyya lafaa irratti itti elowe maraaf deebi'ee addii kutatiisa jalqabe.

²¹ Sababille nami tokko hujii ifii qarumma'aan, beekkumsaa fi dandeetti'in waan huje, achiin duuba waan qabu mara nama itti hin elowin tokkoof lakkisa. Tunille waan bu'aa hin qanne, miidhama gudda'a.

²² Nami biyya lafaa irratti waan itti elowuu fi itti mixiixxatu mara keessaa bu'aa maan dhaggata?

²³ Barri jiruu isaa marti farraa fi gaddaan guutameera; halkanille'een qalbiin isaa hin foorfattu. Tunille bu'aa hin qaddu.

²⁴ Nami nyaatee, unee, waan hujatetti gammadiisa caalaa wonni dansaan inni hujuu dande'u hin jirtu. Tunille Waaqa biraa akka dhuttu dhagge;

²⁵ Waaqaan malee, eentu nyaatuu yookiin gammaduu dande'a ree?

²⁶ Waaqi nama isa gammachiisuuf qarummaa, beekkumsaa fi gammada kenna; nama cubbicha ammoo karra wolitti qabee tuulee, nama Waaqa gammachiisuuf dabarsee akka kennu godha. Tunille bu'aa hin qaddu; qilleensa ari'iisa.

3

Waan Maraaf Yennaan Jirti

- ¹ Waan maraaf yennaan jirti;
waan biyya lafa irraa maraaf yennaan jirti.
- ² Dhalatiisaaf yennaan jirti;
du'iisaafille yennaan jirti;
Dhaabiisaaf yennaan jirti;
buqqisiisaafille yennaan jirti.
- ³ Ijjeesiisaaf yennaan jirti;
fayyisiisaafille yennaan jirti.
Diigiisaaf yennaan jirti;
ijaariisaafille yennaan jirti.
- ⁴ Bowiisaaf yennaan jirti;
kolliisaafille yennaan jirti.
Gaddisaaf yennaan jirti;
sirbiisaafille yennaan jirti.
- ⁵ Dhakaa bittinneessiisaaf yennaan jirti;
dhakaa wolitti qabiisaafille yennaan jirti.
Hanqafatiisaaf yennaan jirti;
hanqafatiisa lakkisiisaafille yennaan jirti.

⁶ Barbaadiisaaf yennaan jirti;
barbaadiisa lakkisiisaafille yennaan jirti.

Maffatiisaaf yennaan jirti;
gatiisaafille yennaan jirti.

⁷ Tarsaasiisaaf yennaan jirti;
hodhiisaafille yennaan jirti.

Cadhiisaaf yennaan jirti;
dubbatiisaafille yennaan jirti.

⁸ Jaalatiisaaf yennaan jirti;
jibbiisaafille yennaan jirti.

Lolaaf yennaan jirti;
nageyaafille yennaan jirti.

⁹ Nami waan itti elowe irraa bu'aan maan dhaggata ree?

¹⁰ Ani hujii ulfaattuu Waaqi namootatti fe'e dhaggeera.

¹¹ Waaqi waan mara yennaan isi'iititti miidhassee dadeera. Inni halchaa yennaan dhuma hin qannee yaada namootaa keessa keyeera; te'uu malee isaan waan Waaqi jalqabaa haga dhumaatitti godhu beekuu hin dande'an.

¹² Nami bara jiruu ifii waan dansaa hujee itti gammadiisa caalaa wonni tokkolle akka hin jirre beekeera.

¹³ Nami martinuu nyaatee, unee, waan itti elowetti gammadiisille kennansa Waaqaa ti.

¹⁴ Wonni Waaqi hujee martinuu haga bara baraa akka jiraattu ani hin beeka; wonni itti ede'amuu fi irraa fuudhamu tokkolle hin jiru. Nami martinuu akka isa sodaatuuf, Waaqi waan kana godhe.

¹⁵ Wonni amma jiru kama dur jiru; wonni gara duraa te'ulle kama dur te'eeru; Waaqi woma dabare deebisee fida.

¹⁶ Ani ammalle lafaa irratti waan dhibii dhagge: addee muraan haqaatitti, hammeenna, addee balchumma'aatitti, daba dhagge.

¹⁷ Ani, «Waaqi waan maraa fi hujii maraafille yennaan waan qabuuf, balcha'aa fi cubbichalle gara mura'aa hin fida» jedhee, gadhaa kiyya keessatti yaadadhe.

¹⁸ Ani ammalle, «Namooti akka bineensotaa akka te'ane akka ifi dhag-ganuuf, Waaqi haga isaan ilaala» jedhee, gadhaa kiyya keessatti yaade.

¹⁹ Hireen namaatii fi bineensaalle tokkuma. Akkuma kuun du'u kuunille du'a; isaan marti hafuuruma tokko qaban; nami bineensa hin caalu. Wonni martinuu bu'aa hin qaddu.

²⁰ Martinuu addee takkaa dhaqan; martinuu akkuma biyyee irraa dadamane, garuma biyye'ee hin deebi'an.

²¹ Lubbuun namaa gara gubba'aa akka baatu, lubbuun bineensaa gara lafaa gad akka buutu eentu beeka?

²² Namaaf hiree isaa waan teeteef, hujii ifiititti gammadiisa caalaa wonni tokkolle akka hin jirre hubadheera. Nami du'een duuba waan te'u akka inni dhagguuf, eentu deebisee isa fiduu dande'a ree?

4

Cunqurfama, Eloo, Jaala Dhabiiisa

¹ Ammalle ani cunqurfama biyya lafaa irratti te'iisatti jiru mara dhagge. Imimmaan worra cunqurfamee dhagge; ka isaan jajjabeessulle hin jiru. Worri isaan cunqursu hunna guddoo waan qabuuf, ka isaan jajjabeessu hin jiru.

²Tanaaf, ani, «Worra haga ammaa jiru'uun jiru caalaa worra duruu du'eeru woyya.

³Worra lamaanuu caalaa ammoo worra hin dhalatin, ka hammeenna biyya lafaa irratti hujamu hin dhaggin woyya» jedhee yaade.

⁴Wonni nami itti elowuu fi dandeetti'in hujatu marti hinaaffaa irraa akka kaatu dhagge. Tunille bu'aa hin qaddu; akka nama qilleensa ari'ee ti.

⁵Gowwaan harka maratee tee'ee, beelaan du'a.

⁶Elo'oo fi qilleensa ari'iisaan harka lama dhaggatiisaa mannaa, qalbii nageyaatiin harka tokko dhaggatiisaa woyya.

⁷Ammalle waan bu'aa hin qanne takka biyya lafaa irratti dhagge:

⁸nami qofii ifii le'u tokko, ilma yookiin obboleessa ka hin qanne, ka waan mara irratti eloon isaa dhuma hin qanne, karra ifiitille'een, «Na geetti» ka hin jenne, inni «Ani eennuuf elowa? Ani maaf gammada ifi dhoogga?» jedhee ifi gaafata; kunille waan bu'aa hin qanne; hujii nama gaddisiittu.

⁹Eloo ifiitiif bu'aa dansaa waan dhaggatanuuf, tokko te'uu irra lama te'uu woyya.

¹⁰Tokko yoo jige, kuun ol kaasa; yoo jige, ka ol isa kaasu, nama hin qanneef ammoo aanne'e.

¹¹Nami lama yoo woliin rafe, wol hin o'isa; nami tokko attam qofuu ifi o'isuu dande'a ree?

¹²Nami tokko nama qofuu jiru injifatulle, nami lama ifi irraa dhooggatuu dande'an. Wodaroona sadiin dhowante ariifattee hin cittu.

¹³Mooticha jaarsa gowwaa gorsa hin fudhannee mannaa, dargageessa hiyyeessa qaroo woyya.

¹⁴Dargaggeessi sun mana hidha'aa keessaa bayee mootii ka te'e yookiin biyyuma mootii itti te'eeru san keessatti hiyyeessa te'ee dhalateera fa'a te'a.

¹⁵Worri biyya lafaa irra ideemaa le'u marti dargaggeessa addee mootichaa bu'u san hordofanuun dhagge.

¹⁶Inni kolbaa baca bulchaa tureeyyu. Worri duubarra dhufe ammoo isatti hin gammanne; tunille bu'aa hin qaddu; qilleensa ari'iisa.

5

Waaqa Sodaadhu

¹Yennaa gara Galma Waaqaa seentu miila keetii eeggadhu; caqasiisaaf qophowanee dhikaatiis, ciincaa gowwoole'ee, ka worra waan hantuu akka huje hin beenne caalti.

²Afaan keetiin hin ariifatin; Waaqa duratti waan tokko dubbatiisaafille gadhaa keeti keessatti hin jarjarin. Waaqi ol-gubbaa jira; ati ammoo lafa irra jirta; maarre dubbiin teeti diqqoo teetuu ti.

³Hujiin yennaa bacattu akkuma oojjuu namatti fiddu, addee dubbiin bacattutti dubbii gowwa'aatitti jira.

⁴Waaqaaf yennaa waadaa galu, muummessiisaaf hin turin. Inni worra gowwa'atti hin gammadu; waadaa keeti muummessi.

⁵Waadaa galtee muummessiisa dhabuu irra, waadaa galiisa dhabuu woyya.

⁶Afaan keeti gara cubbu'uu si hin geessin. Ergamaa Galma Waaqaatiin, «Waadaan ani gale dokonkora» hin jedhin. Maaniif Waaqi dubbii teetitti aaree hujii harka keetii balleessa ree?

⁷Oojjuun baca'aa fi dubbiin bacaan bu'aa hin qaddu. Tanaaf, Waaqa sodaadhu.

Durummaan Bu'aa Hin Qaddu

⁸ Biyya tokko keessatti hiyyeessi cunqurfamee, muraan haqaatii fi mirgi isaa dhooggameen yoo dhaggite, waan akkasii san hin baaseffatin; qondaalli tokko qondaala isa ajaju tokkoon ilaallama; isaan lachuu irralle'etti ol aanaa dhibi'ittuu jira.

⁹ Wonni latti baachu ta nama maraa ti; mootichinuu fichaa irraa fayyadama.

¹⁰ Nami beesee jaalatu ijjumaa beesee hin quufu; nami durummaa jaalatulle ijjumaa bu'aa hin quufu; tunille bu'aa hin qaddu.

¹¹ Karri yennaa bacattu, worri nyaatulle hin bacatan. Ka horate ila ifitiin ilaaliisa malee, maan bu'aa isaaf qaba?

¹² Hojjataan diqqoo yookiin guddoo nyaatulle hirriiba dansaa rafa; bacinni karra dureessaa ammoo hirriiba isa dhooggiti.

¹³ Wonni hantuun ani biyya lafaa irratti dhagge takka, karra abbaa horate miidhiisaaf tuulantu,

¹⁴ yookiin karra dedhuma baddu; inni yennaa ilma uumatu, harka ifi duwwaa hafa.

¹⁵ Nami qullaa ifi gadaamessa haadha ifi keessaa dhalata; akkuma dhalate san deebi'ee hin deema; waan itti elowe keessaa tokkolle harkatti qabatee hin deemu.

¹⁶ Tunille waan hantuu akka malee nama gaddisiittu; nami akkuma dhalate san deebi'ee hin deema; wonni itti elowe sun akka waan qilleensi fudhatee eega teete, inni bu'aa maan dhaggata ree?

¹⁷ Inni bara jiruu ifi mara gadda gudda'aan, dhibe'ee fi aari'iin dukkana keessa le'a.

¹⁸ Tun hiree isaa waan teeteef, nami bara jiruu ifi diqqoo Waaqi biyya lafaa irratti isaaf kenne tana keessatti nyaataa, unaa, waan itti elowe maratti gammadiis waan dansa'aa fi waan isaaf maltee akka teete hubadhe.

¹⁹ Waaqi karraa fi qabeenna namaaf kennee, akka nami hiree ifi fudhatee, waan itti elowetti gammadu, tun kennansa Waaqaa ti.

²⁰ Waaqi gammada gadha'aa namaaf waan kennuuf, nami marroo bara jiruu ifitiif hin yaaddowu.

6

¹ Ani biyya lafaa irratti waan hantuu dhibii dhagge; isiille namootatti akka malee ulfaatti:

² nami halchaa gadhaa ifi akka hin dhanne, Waaqi karra, qabeennaa fi ulfinna isaaf hin kenna. Ammoo alaga'atti qabeenna isaa nyaata malee, Waaqi akka inni qabeenna ifi nyaatu isa hin goone; tunille bu'aa hin qaddu; akka malee waan hantu'u.

³ Nami tokko ijoollee dhibba uumatee, bara bacaa le'uu dande'a; haga le'elle le'u, inni yoo karra ifiititti hin gammadin, ulfinnaan yoo hin awwaalamin, ani, «Isa caalaa finna du'ee dhalate woyya» jedha.

⁴ Finni adoo hin dhalatin du'e sun bu'aa hin qabu; maqaa malee, dukkana keessaa dukkanatti deebi'a.

⁵ Finni sun ijjumaa aduu dhagguu dhabulle yookiin womaa beekuu dhabulle, nama san caalaa foora qaba.

⁶ Namichi sun woggaa kuma lama yoo le'elle ammoo karra ifitiin hin gammanne. Isaan lamaanuu addee takkaa dhaqanii motii ree?

⁷ Eloon namaa martinuu woma nyaatu dhaggatiisaaf; te'uu malee fedhiin isaa ijjumaa hin guuttu.

⁸ Nami qaroon nama gowwaa maaniin caala ree? Nami hiyyeessille namoota dhibii odduu attam akka le'u beekuun maan bu'aa isaaf qaba ree?

⁹ Halcha'aan joonjuu irra, waan ilti dhaggitu woyya. Halcha'aan joonjuun bu'aa hin qaddu; qilleensa ari'iisa.

¹⁰ Wonni amma jiru woma duruu maqaan itti moggaafame; nami maan akka te'e duruu beekkameera. Nami ka isa caalaa jabaatu woliin falmatuu hin dande'u.

¹¹ Dubbiin bacattu, wonni bu'aa hin qannelle bacatti; isii keessaa nami maan bu'aa dhaggata ree?

¹² Nami bara jiruu ifii ta bu'aa hin qanne, gabaadduu akka gaaddisaa dabartu tana keessa adoo jiruu, waan isaaf dansaa te'e eentu beeka? Inni du'een duuba biyya lafaa irratti waan te'uuf jiru eentu isatti himuu dande'a?

7

Qarummaa

¹ Fiqiree dansa'aa mannaa, maqaa dansaa woyya; guyyaa dhalootaatii mannaa guyyaa du'aa woyya.

² Gara mana nyaataa fi unto'oo dhaqiisaa mannaa, gara mana bowaa dhaqiisa woyya; duuti muummee nama maraa waan teeteef, worri jiraataan tana qalbeeffatuu ti.

³ Gaddi qalbeeffatiisaaf dansaa waan te'eef, kollaa mannaa, gadda woyya.

⁴ Nami qaroon marroo gaddaa yaadata; nami gowwaan ammoo marroo gammadaa qofa yaadata.

⁵ Faaruu worra gowwa'aa caqasu'uu mannaa, xixicha nama qaro'oo caqa-suu woyya.

⁶ Kolli nama gowwa'aa akka qoree okkotee jalaa xaxa'ittuu ti; tunille bu'aa hin qaddu.

⁷ Cinqursiisi nama qaroo gowwaa gooti; safuun qalbii nama balleessiti.

⁸ Jalqaba waan tokkootii mannaa, muummee isi'ii woyya; koora mannaa, ossata woyya.

⁹ Aariin bobaa gowwa'aa keessa waan jirtuuf, ati ariifattee hin aarin.

¹⁰ Gaaffiin akkasii gaaffii nama qaro'oo waan hin te'iniif, «Bara ammaatii mannaa, maaf bara durii woyya?» jettee hin gaafatin.

¹¹ Qarummaan akkuma dhalaa dansa'a; worra lafa irra le'uuf bu'aa qaddi.

¹² Akkuma beeseen gollaa namaaf teetu, qarummaalle gollaa namaaf teeti; irra caalaa ammoo qarummaan jiruu nama isii qabuu hin eeddi.

¹³ Me waan Waaqi godhe ilaali! Waan Waaqi dasse eentu qajeelchuu dande'a ree?

¹⁴ Barri dansaa yennaa te'e, gammadi; barri badaa yennaa te'e ammoo, hubadhu; Waaqi akkuma waan tokko dade, waan dhibiille dade; tanaaf nami waan gara duraa te'u hin beeku.

¹⁵ Ani bara jiruu tiyyaa ka bu'aa hin qanne kana keessa, nami balchaan tokko adoo balchaa te'eeruu du'uun, nami hamaan tokko adoo hamaa te'eeruu bara dheeraa le'uun, waan lamaan kana dhaggeera.

¹⁶ Ati akka malee balchaa, akka malee qaroolle hin te'in. Yoo akkas teete ifi balleessita.

¹⁷ Yennaa teeti malee akka hin duuneef, akka malee hamaa, akka maleelle gowwaa hin te'in.

¹⁸ Waan tokko qabatanee, ta dhibiille lakkisuu dhabiis dansa'a. Nami Waaqa sodaatu waan mara irra haga taree hin deemu.

¹⁹ Bulchitoota kudhan qachaa tokko keessa jiranu caalaa, qarummaan nama qaroo tokkoof jabeenna kenniti.

²⁰ Nami balchaan yennaa mara waan dansaa huju, cubbuulle ka ijjumaa hin hunye, lafa irra hin jiru.

²¹ Tajaajilaan keeti si abaaruun akka hin dhageenneef, jecha kolbaan jettu mara hin caqasin;

²² atinuu yennaa hedduu worra dhibii akka abaarte, gadhaan keeti hin beeka.

²³ Ani qarumma'aan waan kana mara haga ilaalee, «Ani qaroo hin te'a» jedhee yaade. Qarummaan ammoo na irraa fagaatte.

²⁴ Qarummaan waan teetelle teetu, waan fagoo jirtu; waan guddoo gad fagaatteertulle'e. Eentu barbaadee isii dhagguu dande'a?

²⁵ Tanaaf ani qalbii tiyya gara beekkumsaa, gara wo qorqoriisaa, gara qarummaa barbaadiisaa, gara hiikkaa hundee waan mara barbaadiisaa, gara dadhabbii worra gowwoole'ee hubatiisaatii fi gowwummaan maraatiisa akka teete hubatiisaa deebifadhe.

²⁶ Ani dubartii akka tiyyo'oo, ta yaad isi'ii akka fonxoro'oo, ta harki isi'ii akka haachabaa, ta du'a caalaa hadhoottu dhagge. Nami Waaqaa isii jalaa hin miliqa; cubbicha ammoo akka tiyyo'oo hin qabatti.

²⁷ Lallabaan sun, «Kunoo, wonni ani qorqore tana: hundee waan maraa qorqoriisaaf, waan tokko waan dhibii irratti ede'ee,

²⁸ adoo barbaadiisatti jiruu ammoo ammalle hin dhaggine. Namoota kuma oddu'utti namicha yaada qajeelaa qabu tokkocha dhaggeera; isaan mara oddu'utti ammoo dubartii qajeeltu takkattiille hin dhaggine.

²⁹ Ani tana callaa dhagge: Waaqi nama yaada qajeelaa qabu dade; namooti ammoo mala hedduu barbaadane» jedha.

8

¹ Nami akka nama qaro'oo hiikkaa woyii beeku eennu? Qarummaan fuula namaa ifaallessa gooti; nyaara namaalle hin jijjiirti.

Mooti'iif Ajajamuu

² Waaqa duratti waan kakatteef, ajaja mooti'ii muummessi.

³ Fuula mooti'ii duraa deemiisaaf hin ariifatin; inni waan jaalate godhiisa waan dande'uuf, dubbii baddu'uuf hin dhaabbatin.

⁴ Jechi mooti'ii baallii waan qabuuf, «Ati maaf waan kana goota?» ka jedhuu dande'u eennu?

⁵ Nami ajaja mooti'iitiif ajajamu hin miidhamu; gadhaan nama qaro'oo yennaa wo itti hujuu fi akka itti wo hujuu hin beeka.

⁶ Rakkinni namaa akka malee itti ulfaatulle, waan maraaf yennaa itti teetuu fi akka itti teetutti jira.

⁷ Nami waan gara duraa te'u eega hin beenne, waan dhufu'uu jiru eentu itti himuu dande'a ree?

⁸ Nami hafuura isa keessaa bawu irratti, guyyaa du'a ifii irralle'etti baallii qabu hin jiru. Akkuma nami Yennaa lolaa keessa gad lakkifamuu hin dandeenne, wonni hantuun worra isii hujuu gad hin lakkittu.

Nama Hama'aa Fi Nama Balchaa

⁹ Ani waan biyya lafaa irratti hujame mara qalbii tiyyaan qorqoree dhagge. Nami nama miidhiisaaf*, yennaa nama dhibii irratti gootaa te'utti jira.

¹⁰ Akkasuma, ani worri hamaan addee woyyitti'ii gad bayaa, ol seenaa turane, awwaalamane dhagge; isaan qachuma waan hantuu itti hujane keessatti leellifamane. Tunille bu'aa hin qaddu.

¹¹ Yakkaa irratti muraan ariiti'in yennaa hin kennamin, gadhaan kolba'aa mala hantuu hujiisaatiin guutama.

* **8:9** Nami nama miidhiisaaf: Ka jedhu kun ifi miidhiisaaf jedhameelle hiikamuu hin dande'ama.

¹² Nami cubbaalessi yennaa dhibba yakkaa hujee bara dheeraa le'ulle, worra Waaqa sodaatu, ka ulfinna Waaqaaf kennuuf wonni dansaan akka teetuuf ani hin beeka.

¹³ Nami hamaan ammoo Waaqa waan hin sodaanneef, wonni dansaan isaaf hin teetu; barri isaalle akka gaaddisaa hin dheeratuuf.

¹⁴ Wonni dhibiin bu'aa hin qanne takka lafa irra jirti: waan nama balcha'aaf te'u nami hamaan, waan nama hama'aaf te'u nami balchaan fudhata; tunille waan bu'aa hin qanne.

¹⁵ Nami biyya lafaa irra le'u nyaatee, unee, gammadiisa caalaa wonni tokkole waan hin jirreef, maarre ani gammadiis dansaa akka te'e murteesse; tanaaf, nami bara Waaqi biyyaa lafaa irratti jiruu isaaf kenne mara hujii ifiititti hin gammada.

¹⁶ Ani qarummaa beekiisaaf, eloo namaa ta lafa irratti halkanii fi guyyaa ilti isaa hirriiba hin qanne hubatiisaaf, qalbii tiyyaan yennaa qorqoru,

¹⁷ waan Waaqi huje mara dhagge; waan biyya lafaa irratti godhamu eenulle beekuu hin dande'u; nami qorqoriisaaf guddoo wodhaanulle hiikkaa dhaggiisaaf hin dande'u; nami qaroon, «Hin beeka» yoo jedhelle, ijjumaa hubatuu hin dande'u.

9

Muummee Nama Maraa

¹ Ani kana maraa hubatiisaaf wodhaaneera. Nami balcha'aa fi qaroon, hujiin isaanille harka Waaqaa keessa jirti; wonni isaan eeggatu, jaalala yookiin jibba akka te'e, nami beeku hin jiru.

² Nami balcha'aa fi hamaan, nami dansa'aa fi badaa, qulqullichii fi battichi, ka ciincaa dhikeessuu fi ka hin dhikeessine martinuu hiruma tokko qaban. Nama dansa'aaf akkuma teetu, nama cubbichaafille teeti; worra kakatuuf akkuma teetu, worra kakuu sodaatuufille teeti.

³ Waan biyya lafaa irratti te'u mara keessaa wonni hantuun hiree tokko dhaggatiisa nama maraa ti; irra caala'aayyuu, gadhaan namootaa hammeennaan guutameera; bara jiruu isaanii mara maraattummaan gadhaa isaanii keessa jirti; muummee irratti gara du'aa deeman.

⁴ Nami odduu worra jiraata'aa jiru ammoo addii qaba; neenqa du'ee mannaa, saree jirtu woyya.

⁵ Worri jiru akka du'anu hin beekan; worri du'e ammoo waan tokkooyyuu hin beekanu; gatii hin qabaatanu; dabarsiin isaaniituu hin dedhanti.

⁶ Jaalalli isaanii, jibbaa fi hinaaffaan isaanii eega baddee turteerti; waan biyya lafaa irratti te'u keessatti isaan ijjumaa qooda hin qabanu.

⁷ Wonni ati amma gootu Waaqa duratti fudhatama waan qadduuf, dhaqii sagalee teeti gammadaan nyaadhu; daadhii woyni'ii teetille gadhaa gammadaatiin uni.

⁸ Yennaa mara woyaa adii uffadhu; mataa keetille zayitii ejersaa dibadhu.

⁹ Jiruu teetii fi biyya lafaa ta irratti eloottu keessatti tun hiree teeti waan teeteef, bara jiru'uu ka bu'aan hin qanne ka Waaqi si'iif kenne kana mara keessatti, niitii teeti ta jaalattu woliin gammadi!

¹⁰ Addee worri du'e jiru, ta ati dhaqiisaaf jirtu san hujiin yookiin itti yaadanee wo qopheeffatiis yookiin beekkumsi yookiin qarummaan waan hin jirreef, waan harki keeti hujiisa beeku mara hunna teeti guutu'uun huji!

¹¹ Ani ammalle waan dhibii biyya lafaa irratti dhagge: worri akka malee rukkiisu yennaa mara hin injifatu yookiin loltooti jajjabbaan lola hin injifattu yookiin qaroon sagalee hin qabu yookiin beekaan durummaa hin qabu

yookiin worri dandeettii qabu hin leellifamu; yenna'aa fi hireen ammoo isaan mara irratti hin teeti.

¹² Nami hiree isaa badduun yoom akka itti dhuttu hin beeku; akkuma qurxummiin caccoo hantuu seentee qabantu, akkuma sinbirreen ribboo jala seentu, ilmaan namaalle yennaa hantuu dedhuma isaanitti dhuttuun hin qabaman.

Qarummaan Gowwummaa Caalti

¹³ Ani ammalle biyya lafaa irratti fakkeenaa qarumma'aa ka guddoo natti maadee te'e tokko dhagge:

¹⁴ qachaan diqqaan nami diqqaan keessa le'u tokko jiraayyu; mootiin hunnaamessi tokko dhufee lola itti kaasee, kaabii guddoo marsee itti ijaare.

¹⁵ Namichi hiyyeessi qaroon qachaa san keessa le'u tokko jiraayyu; inni qarummaa ifitiin qachaa san hambure. Ammoo namicha hiyyeessa san nami tokkolle hin qaabanne.

¹⁶ Maarre ani, «Qarummaan jabeenna caalti» jedhe; ammoo namichi kun hiyyeessa waan te'eef, qarummaan isaa tuffatante; jecha isaalle nami dhage'e hin jiru.

¹⁷ Iyya bulchaa gowwoole'eetii mannaa, dubbii qaroon laana dubbatu woyya.

¹⁸ Qarummaan meya woraanaa caalti; cubbaalessi tokko ammoo waan dansaa bacaa balleessa.

10

¹ Akkuma tiitichi du'e fiqiree ajeessu, gowwummaan diqqoon qarumma'aa fi ulfinna namaa diqqeessiti.

² Qalbiin nama qaro'oo gara karaa qajeelaa isa geessiti; qalbiin nama gowwa'aa ammoo gara karaa dokonkoraa isa geessiti.

³ Gowwaan karaa yennaa ideemuuyyuu, wodanaa hin qabu; inni attam gowwaa akka te'e eennulle'etti hin mudhisa.

⁴ Bulchaan keeti sitti aaree yoo si irratti ka'e, addee teeti gad hin lakkisin; sarmis aarii guddoo qabbaneessiti.

⁵ Waan hantuu ani biyya lafaa irratti dhagge keessaa tokko, dokonkora bulchaan huju.

⁶ Gowwooleen addee ulfinnaa tee'anee, dureeyyiin ammoo addee gad aantuu tee'aneeran.

⁷ Qondaaltoti akka garbootaa miilaan ideentuun, garboota farda irratti dhagge.

⁸ Nami boolla qotu ifumaafuu keessa bu'a. Nama dalleya dhaka'aa diigu dhudhuufaan hin idda.

⁹ Nama dhakaa fongolchu, dhakaan hin miidha; nama muka fadhaansu muki sun hin madeessa.

¹⁰ Agaraan duude yoo hin qaramin, hunna guddoo barbaachisa; dandeetiin ammoo nama milkeessiti.

¹¹ Dhudhuufaan adoo qorsaan hin muusowin yoo idde, namichi qorsaan muusessu sun womaa bu'aa hin dhaggatu.

¹² Dubbiin afaan nama qaro'oo keessaa baatu, fudhatama qaddi; nami gowwaan ammoo dubbuma ifitiin bada.

¹³ Jalqaba irratti dubbiin isaa gowwumma'a; dhuma irratti maraattummaa hantu'u.

¹⁴ Gowwaan dubbii baceessa.

Waan dhufu'uu jiru, nami beeku tokkolle hin jiru; nami du'een duuba, waan te'uuf jiru, eentu isatti himuu dande'a ree?

¹⁵ Hujiin gowwa'aa isuma dadhassiitti; inni karaa gara qacha'aa geessu-uyyuu hin beeku.

¹⁶ Ee biyya mootiin ijoollichaa, ta qondaaltoti teeti ganamaan jila nyaataa fi unto'oo qopheeffattu si'iif aanne'e!

¹⁷ Ee biyya mootiin keeti sanyii dansa'aa, ta qondaaltoti teeti machi'iif adoo hin te'in, ittiin jabaatiisaaf, yennaa barbaachisaa teetetti nyaatanee unanu, ati ta hiree dansaa qaddu!

¹⁸ Nami yoo booseya te'e, heellichoon hin duufa; harka ifii maratee yoo tee'e, manni hin dhim'isa.

¹⁹ Jilti areerti'ii nama gammachiisiisaaf qophootti; daadhiin woyni'ii jiruu namaa gammachiitti; beeseen ammoo waan mara bitti.

²⁰ Yaada keeti keessatti mootii hin abaarin yookiin kolloo teeti keessatti dureessa hin abaarin; sababille worri akka sinbirree koolaan kaatuu tokko dubbii teeti fuudhee, waan ati jettu hin hima fa'a te'a.

11

Waan Nami Qaroon Godhu

¹ Guyyaa heddu'uun duuba deebitee waan dhaggattuuf, midhaan keeti bisaan irra ergi.

² Balaa hamaa lafa irratti dhufu ati waan hin beenneef, karra teeti addee torbatti yookiin saddeetitti qoodii maffadhu.

³ Duumensa keessa bisaan yoo guute, bokkeenni lafa irratti rooba. Muki gara kibbaa yookiin gara kaabaa yoo jige, adduma itti jige san hin irkata.

⁴ Nami yennaa mara qilleensa dansaa eegatu hin facaafatu; nami yennaa mara duumensa ilaalu hin haammatu.

⁵ Qilleensi eessa akka deemu yookiin jiruun yookiin hafuurri gara finna gadaamessa haadhaa keessa jiruu attam akka seenu akkuma beekuu hin dandeenne, ati hujii Waaqa waan mara dadee beekuu hin dandeettu.

⁶ Waan ati facaatte keessaa ka tolu kam akka te'e waan hin beenneef, midhaan keeti ganamaan facaasi; galgalalle harki keeti hujii hin lakkisin; kun yookiin sun yookiin lamaanuu hin tola fa te'a.

⁷ Ifi dansa'a; aduu ilaaliis ilatti tola.

⁸ Nami bara hedduu le'ulle, bara san mara gammaduu ti; ammoo barri dukkanaa baca akka te'e qaabatuu ti. Wonni dhufu martinuu bu'aa hin qabu.

Gorsa Dargaggootaaf Kenname

⁹ Ee dargaggeessa, yennaa dargaggummaa teetii gammadi! Bara dargaggummaa teetii gadhaan keeti gammaduu ti; yaada gadhaa teetii, waan ilti teeti dhaggite gula deemi; waan kana maraaf ammoo, Waaqi gara mura'aa akka si fidu beeki.

¹⁰ Tanaaf gadhaa keeti keessaa yaaddoo fageessi; nafa keeti keessaa waan hantuu baasi. Sababille dargaggummaa'aa fi jabeenni bu'aa hin qaddu.

12

¹ Barri rakko'oo adoo hin dhufin, woggooti, ati, «Ana hin gammachiisanu» jettulle adoo hin dhikaatin, bara dargaggummaa teetii ka si dade qaabadhu.

² Ati yennaa dulloontu aduun, ifi, jiinii fi urjiin hin dukkanowan; duumensi bokkeyaa hin dabaru.

³ Yennaa san harki keeti hin hollata; miilli keeti hin dadhaba; ilkaan keeti waan si irraa harca'uuf corqitee hin dandeettu; ilti teetille hubattee hin dhaggitu.

⁴ Yennaa san gurri keeti dhage'uu hin dadhaba; yennaa wo nyaattulle corqiis hin dhage'amu; namooti yennaa sinbirreen woccu hin ka'an; qoon-qoon woca isaanii ammoo sitti diqqoo dhage'ama.

⁵ Yennaa san tarba bayiisa hin sodaatta; miilaan deemiisa guddoo hin sodaatta; rifeensi keeti akka daraaraa muka «Almond» jedhamuu adii hin te'a; yennaa ideentu akka korophiisaa hin tataabbitta; fedhiin teeti hin baddi. Achiin duuba ati gara mana keeti ka bara baraa hin deenta; kolbaan awwaala keetiif hin yaati.

⁶ Jiruun teeti akka haachaba meeti'ii adoo hin citin yookiin akka qorii worqi'ii adoo hin cabin yookiin akka waan bisaaniin woraabbatanuu, madda biratti adoo hin bututin yookiin akka korboo bisaan boollaa ittiin woraabbatanuu, adoo hin cabin,

⁷ biyyeen gara biyye'ee adoo hin deebi'in, hafuurrille gara Waaqa isa kennee adoo hin deebi'in ka si dade qaabadhu.

⁸ Lallabaan, «Wonni martinuu bu'aa hin qaddu! Dhugumaan bu'aa hin qaddu!» jedha.

Yaada Buufataa

⁹ Lallabaan qaroo waan te'eef, waan ifii beeku kolbaa barsiise; mam-maassa hedduu itti yaadee, qorqoree, tarree galchee qopheesse.

¹⁰ Inni jecha sirri'ii dhaggiisaaf qorqoree, waan dhugaa te'ee fi sirrii te'e barreesse.

¹¹ Jechooti qaroole'ee akka sibiila mutaa qotiyyoo ittiin oofanuu ti; jechooti isaanii ka wolitti qabamane, akka mismaara lixee seenee ti; jechi kun martinuu Waaqa tokkocha nu mara tissu irraa kennamane.

¹² Ilma kiyya, gorsa dhibii kanatti aanee jirulle fudhadhu! Kitaabota hedduu barreessisille muummee hin qabu; kitaaba qorqortii baceessis nama dadhassiisa.

¹³ Amma wonni marti dhage'anteerti; muummeen waan maraa tana waan teeteef, Waaqa sodaadhu; ajaja isaa eeggadhu; hujiin namaa guddittiin tana.

¹⁴ Waaqi hujii maraayyuu, dansaalle teetu yookiin hantuu, ta dhokaataatitti hujantelle, gara mura'aa hin fida.

Kitaaba Faaruu Solomoonii Seensa

Kitaab faaruu Solomoonii irra caalaa wolaloo jaalalaa faaruu dhiirti dubartii, dubartiin dhiira faarfattu. Hiikkaa garii keessatti kitaab kun, «Faaruu faaruu caaltu» yookiin, «Faaruu keessaa faaruu guddoo bareeddu» jedhamee beekkama. Woraabbii afaan Ibrootaa keessatti kitaab kun ka Solomoonii te'uun isaa waan beekkameef, kitaaba Solomoonii jedhama.

Faaruu tana worri Yihudootaa yennaa hedduu jaalala Waaqaa fi kolbaa isaa wodhakkaa jiruun wol fakkeessan; worri Kiristaanaa jaalala Kiristoosii fi Wolde'a Kiristaanaa wodhakkaa jiruun wol fakkeessan.

Haadhoo Dubbi'ii

Faaruu Qaraa 1:1–2:7

Faaruu Lammeesso'oo 2:8–3:5

Faaruu Sadeesso'oo 3:6–5:1

Faaruu Arfeesso'oo 5:2–6:3

Faaruu Shaneesso'oo 6:4–8:4

Faaruu Jayeesso'oo 8:5–14

¹ Faaruu Solomoonii ta faaruu mara caaltu.

Faaruu Qaraa

Waqjibittiin

² «Jaalalli keeti daadhii woyni'ii waan caaluuf, afaan kiyya keessa na sunqadhu.

³ Fooleen figiree teetii hin uddootti; maqaan keeti akka figiree dhangalaatuu ti; tanaaf durri marti si jaalatti.

⁴ Na fudhadhuu deemi! Ariifannuu ti; ee, mooticha gara kolloo teetii na geessi.

Jaaloti

Nuuti si'iin firinxiindhee hin gammanna; daadhii woyni'ii caalaa jaalala keeti leellinna; dubartooti marti dhuguma si jaalatan.

Waqjibittii

⁵ Ee, durra Yersaaleemii! Ani gurraattii te'ulle, akka dukaanii Qedaarii, akka gollaa mana mootummaa Solomoonii miidhaga.

⁶ Ani gurraattii waan te'eef, aduun waan na gurraachessiteef, na hin daaw'atina'a!

Obboleeyyan tiyya natti aaranee, oorruu muka woyni'ii akka eegu na godhane; muka woyni'ii kiyya ani hin eeganne.

⁷ Jaala kiyya ka lubbu'uu! Hoolee teeti eessa akka tiffattu, Waareelle eessatti akka boqachiifattu natti himi. Ani maaniif hoolee jaalota teetii bira akka dubartii fuula hagooggattee joonja?» jette.

Waqjibichi

⁸ Ati ta dubartii mara caalaa miidhaddu! Yoo hin beenne teete,

- hoolee gula ideemi!
 Ilmoolee re'e'ee teeti
 dunkaanii tissitootaa bira dheechifadhu.
⁹ Obboleettii tiyya!
 Ati fardoo garreettaa fardaan harkifamu harkisanu
 ka Fara'oonii keessaa
 akka farda tokkoo ti.
¹⁰ Mallaan teeti seesaan,
 mormi keetille dooqaan miidhageera.
¹¹ Ani* worqii gurraa,
 ta meeti'iin seefante hujisiisa.

Waqjibittii

- ¹² Mootiin areerratiisatti jiruun,
 fiqireen tiyya uddaa ifii fiqqitte.
¹³ Jaalalleen kiyya akka subba qumbi'ii ti;
 inni odduu harma kiyyaa boqata.
¹⁴ Jaalalleen kiyya naaf akka daraaraa uddowu,
 ka addee muka woyni'ii
 ka madda En-Gedii keessaa ti.

Waqjibichi

- ¹⁵ Ee, jaalallee tiyya, ati attam attam miidhadda!
 Ee, attam attam miidhadda!
 Ilti teeti akka ila saphaliisaa ti.

Waqjibittii

- ¹⁶ Jaalallee kiyya, ati attam attam miidhadda!
 Ati attam attam nama gammachiitta!
 Taqueen teenna akka marra bisile'ee ti.

Waqjibichi

- ¹⁷ Utubaan mana keennaa muka hindheensaa ti;
 dagaleen isaalle muka birbirsaa ti.

2

Waqjibittii

- ¹ Ani akka daraaraa lafa Sharoniitii fi
 akka daraaraa dhooqa keessaa ti.

Waqjibichi

- ² Jaalalleen tiyya dubartoota oddu'utti
 akka daraaraa qoree odduu jiruu ti.

Waqjibittii

- ³ Jaalalleen kiyya dargaggoota oddu'utti,
 akka muka appili'ii ka baddaa keessa jiruu ti.
 Ani gaaddisa isaa jala tee'iisatti hin gammada;
 midhaan isaalle afaan kiyyatti hin mi'owa.
⁴ Inni gara mana gammadaa na geesse;
 beessisi jaalala isaa na irra jira.
⁵ Ani jaalala isaatiin qabame waan gaggabeef,
 midhaan woyni'ii nyaachisa'aatii na jabeessa'a;
 midhaan muka appili'iitiin na gammachiisa'a.
⁶ Harki isaa bitaachi mataa kiyya jala adoo jiraataa;
 harki isaa middichi adoo na hanqafataa.
⁷ Ee dubartoota Yerusaalemii,

* **1:11** Ani: *Afaan Ibrootaatiin «Nuuti»* Jedha. Nuuti jechuun isaa akka mootichi ifi himu.

haga inni fedhuma ifiitiin ka'utti,
jaalallee kiyya tirtirsitanee akka hin dammassine,
ani maqaa jilibaa yookiin gadansa badda'aatiin,
isin magannifadha.

Faaruu Lammeesso'oo

Waaajibittii

- ⁸ Kunoo, jaalalleen kiyya,
gaarota irra u'utaalaa,
koobota irra burraaqaa dhufuun qoonqoo dhage'a.
- ⁹ Jaalalleen kiyya jilibaa yookiin
ilmoolee gadansaa fakkaata.
Kunoo inni dalleya mana keennaa duuba dhaabbata;
qowa dalleyaatiin,
fodda'aan gara keessaa ilaaliisatti jira.
- ¹⁰ Jaalalleen kiyya natti dubbatee,
«Jaalallee tiyya, dansittii tiyya!
Koy, waliin ideenna.
- ¹¹ Kunoo, ganni dabareera;
bokkeenni roobuu lakkisee caameera.
- ¹² Daraaraan baquu jalqabeera;
yennaan faaruu faarfatanu geetteerti;
qoonqoon saphaliisaa lafa teenna keessatti
dhage'anteerti.
- ¹³ Harruun midhaanotteerti;
woyniille daraartee uddootteerti.
Jaalallee tiyya, dansittii tiyya!
Ka'i, waliin ideenna» naan jedhe.

Waajibichi

- ¹⁴ Ee, saphaliisa tiyya,
ta holla dhakaa keessaa,
ta addee dhokata gaara keessaa,
fuula keeti natti mudhisi;
qoonqoo teeti na dhageessis;
qoonqoon teeti natti tolti;
fuulli keeti natti miidhaga.
- ¹⁵ Jeedalootaa fi ilmoolee jeedalootaa
worra woynii teenna ta daraariisatti jirtu
nu duraa balleessu, nuu qaba'a.

Waaajibittii

- ¹⁶ Jaalalleen kiyya, kiyyuma;
anille ta isaa ti;
inni daraaraa dansaa keessa horii tissa.
- ¹⁷ Ee jaalallee kiyya! Adoo boruun hin dayya'in,
aduun adoo hin bayin,
akka jiliba'aa yookiin
akka ilmoolee gadansaa,
gaara bu'aa bayii qabu irra
utaalaa gara kiyya koy.

3

- ¹ Ani halkan guutuu taqee tiyya irratti

- jaala kiyya ka lubbu'uu barbaade;
ani isa barbaade ammoo hin dhaggine.
- ² Ani amma ka'ee qachaa keessa,
karaa irra, woldeennaa kara'aa irra deddeemee,
jaala kiyya ka lubbu'uu hin barbaada;
ani barbaade ammoo isa hin dhaggine.
- ³ Worri qachaa eegu adoo asii fi achi deemanuu,
na dhaggane;
anille, «Jaala kiyya ka lubbu'uu
dhaggitaneertanii?» jedhee gaafadhe.
- ⁴ Isaan irra akkuma dabareen,
jaala kiyya ka lubbu'uu san dhaggee,
isa qabadhe;
gara mana haadha tiyyaa,
gara kolloo haadha na deetteetitti
haga isa geffadhutti gad isa hin lakkinne.
- ⁵ Ee dubartoota Yerusaalemii,
haga inni fedhuma ifitiin ka'utti,
jaalallee kiyya tirtirsitanee akka hin dammassine,
ani maqaa jilibaa yookiin gadansa badda'aatiin,
isin magannifadha.

Faaruu Sadeesso'oo Waajibittii

- ⁶ Ka lafa goomole'ee keessaa
akka duumensa aaraa
ol bayiisatti jiru,
ka akka fiqiree qumbi'ii fi hixaanaan
daldaltooti uddowaa mara irraa hujattee kun eennu?
- ⁷ Kunoo, barcumaan mootumma'aa* ka Solomoonii,
loltoota hunnaameyyii Israa'elii
keessaa ta filatante jaatamaan marfameera.
- ⁸ Marti isaaniituu shallaagaa hidhatan;
martinuu muuxannoo lolaa qaban;
bidhaa halkaniiitiif
tokko tokkoon isaanii shallaagaa hidhataneeran.
- ⁹ Mootichi Solomoon muka Libaanonii irraa,
barcumaa mootumma'aa ka ifi hujisiifate.
- ¹⁰ Miilli barcumaa mootumma'aa sanii meetii irraa,
irkoon isaa worqii irraa,
addeen tee'isaa woyaa dhiille'een gonfameera;
keessa isaa dubartoota Yerusaalemiititti seese hujje.
- ¹¹ Ee Dubartoota Yerusaalemii,
dhaqa'aatii kallacha Solomoonii mootichaa,
ka haati isaa guyyaa fuudha isaa,
guyyaa gadhaan isaa gammadetti
itti keette ilaala'a.

4

Waajibichi

- ¹ Jaalallee tiyya, ati attam attam dansitti'!

* **3:7 Barcumaa mootumma'aa:** Barcumaan mootumma'aa kun ka kolbaan Solomoon ittiin ba'attee asii fi achi ideentu.

- Ee, ati attam attam dansitti'!
 Ilti teeti shaashii ati hagooggattu keessaa,
 akka ila saphaliisaa kuulle'e;
 rifeensi mataa keetii
 re'oota gaara Giil'aadii irraa
 gad yaa'anuu fakkaata.
- ² Ilkaan keeti akka hoolota adii
 yennaa rifeensi isaanii muramu
 nafi isaanii dhiqamee bisaan keessaa bayanuu ti;
 hooloti tun martinuu lakkuu dhalti;
 maseenti takkaalle isaan keessa hin jirtu.
- ³ Hidhiin teeti haarrii diintuu fakkaatti;
 haasonni keeti namatti tola.
 Mallaan teeti shaashii ati hagooggattu keessaa,
 midhaan rumaanii ka gargar baqaaq fakkaata.
- ⁴ Mormi keeti xelleephoo Daawitii,
 ta wonteen gugurdoon kum tokko,
 wonteen goototaa martinuu
 itti fannifamanu fakkaata.
- ⁵ Harmi keeti lamaanuu jilibaa ilmoolee,
 lakkuu jilibaa ilmoole'ee,
 ta daraaraa keessa dheeddu fakkaata.
- ⁶ Adoo boruun hin dayya'in,
 aduun adoo hin bayin,
 ani gara gaara qumbi'itii fi
 gara kooba hixaanaa hin dhaqa.
- ⁷ Jaalallee tiyya, ati attam attam dansitti'!
 Womaa dhidhinna hin qaddu.
- ⁸ Waajibittii tiyya, Libaanon irraa gara kiyya koy!
 Libaanon irraa gara kiyya koy!
 Qaccee gaara Amaanaa irraa,
 qaccee gaara Siinaariitii fi Hermoonii,
 goda neenqaa,
 koobota qeeransaa irralle gad bu'i.
- ⁹ Obboleettii tiyya, waajibittii tiyya!
 Ati midhuu teeti takkatti'iin,
 dirata morma keetiitiin
 qalbii tiyya boojite.
- ¹⁰ Obboleettii tiyya, waajibittii tiyya!
 Jaalalli keeti attam attam nama gammachiisa!
 daadhii woyyi'ii caalaa
 attam attam gabbi nama godha!
- Fooleen fiqiree teetii uddowaa mara caalti.
- ¹¹ Waajibittii tiyya!
 Hidhiin teeti akka dhaaba dammaa
 nadhii coccossiti;
 aananii fi dammi arraba keeti jala jiran;
 fooleen woyaa teetii akka foolee
 hindheensa Libaanonii ti.
- ¹² Obboleettii tiyya, waajibittii tiyya!
 Ati akka oorruu itti ijaaramee ti;
 akka madda dalleyaan marfameetii fi

- akka burqaa cuqqaalamee ti.
- ¹³ Ati akka oorruu muka rumaanii,
ka midhaan dansaa buusu,
ka daraaraan uddowuu fi
biqiltuun naardoosii achi keessa jiranuu ti.
- ¹⁴ Muki Naardoosii, biqiltuun uddoottu,
marri uddowu, qarafaan,
muki hixaanaa, muki qumbi'ii,
daraaraan hargiisaatii fi
uddowaan dansaan adda addaa marti
achi keessa jiran.
- ¹⁵ Ati akka burqaa bisaan addee oorru'uu,
ka boolla keessaa yaa'u,
bisaan gaara Libaanoniitii gad yaa'uu ti.

Waajibittii

- ¹⁶ Ee, qilleensa kaabaa dammaqi!
Ee, qilleensa kibbaa koy!
Oorruu tiyyatti qilleensi;
fooleen isi'ii uddoottuun fiqittuu ti.
Jaalalleen kiyya gara oorruu ifii dhufee
midhaan oorruu ifii dansaa nyaatuu ti.

5

Waajibichi

- ¹ Obboleettii tiyya, waajibittii tiyya!
Ani gara oorruu tiyyaa dhufeera;
qumbii tiyyaa fi uddowaa kiyya wolitti qabadheera;
nadhii dhaaba damma kiyyaa nyaadheera;
daadhii woyni'ii tiyyaa fi aanan kiyya uneera.

Jaaloti

Nyaadha'a, jaalota, una'a, jaalalaan machowa'a!

Faaruu Arfeesso'oo

Waajibittii

- ² Ani rafeera; yaadi kiyya ammoo rafee hin jiru;
jaalalleen kiyya balbala dhodhowaa,
«Obboleettii tiyya, jaalallee tiyya!
Saphaliisa tiyya, ta dhidhinna hin qanne, naa bani!
Mataan kiyya fixeensaan,
rifeensi mataa kiyyaalle
dabana halkaniitiin jiidheera» jedhuun dhage'e.
- ³ Ani ammoo, «Woyaa tiyya baafadheeraa,
attam deebisee uffadha ree?
Ani miila kiyya dhiqadheera,
attam deebisee xureessa ree?» jedheen.
- ⁴ Jaalalleen kiyya karaa qowaatiin
harka ifii gara keessaa keye;
gadhaan kiyya isaaf na raafame.
- ⁵ Ani jaalallee kiyyaaf balbala baniisaaf ka'ee,
harka kiyyaan qabannoo cufana'aa yennaa qabadhe,
fiqireen qumbi'ii harka kiyya irraa coccoxsee,
qabannoo san irratti dhangalaate.

⁶ Ani jaalallee kiyyaaf balbala bane;
 inni ammoo deebi'ee deemeera.
 Yennaa inni dubbate san,
 gadhaan na rifate.
 Ani isa barbaade;
 ammoo hin dhaggine.
 Ani isa waame;
 inni na jalaa hin owwaanne.

⁷ Namooti asii fi achi deemaa qachaa eeganu
 na dhaggane;
 isaan dikanee na madeessane;
 eeddoti dalleya qacha'aa
 woyaa tiyya na irraa mulqane.

⁸ Ee, dubartoota Yerusaalemii,
 jaalallee kiyya yennaa dhaggitane,
 maan isatti hintan seetan?
 Ani jaalala isaatiin akka dhibameeru,
 itti naa hima'a.

Dubartooti Jaaloti Waajibitti'ii

⁹ Ati ta dubartoota mara caalaa dansittii teete!
 Jaalalleen keeti worra kaan ka attam caalu inni?
 Ati akkas ka nu magannifattu,
 jaalalleen keeti worra kaan ka attam caalu inni?

Waajibittii

¹⁰ Jaalalleen kiyya diimaa hargiisa;
 inni nama kuma kudhan keessalle'etti hin mudhata.

¹¹ Buqqiin mataa isaa worqii qulluu fakkaatti;
 rifeensi mataa isaa luuccaa,
 gurraacha akka harraaqessaa ti.

¹² Ilti isaa akka saphaliisa adii
 madda bisaanii bira tee'uu,
 ka akka waan aananiin dhigatee
 addaatuu,
 akka dooqaa jirti.

¹³ Mallaan isaa akka oorruu uddowa'aa ti;
 hidhiin isaa akka daraaraa
 fiqiree qumbi'ii dhangalaasuu ti.

¹⁴ Harki isaa ulee worqi'ii
 ta dooqaan seefante fakkaata;
 nafi isaa ilka arbaa
 ka dhakaa, «Safiiros» jedhamuun
 seefame fakkaata.

¹⁵ Miilli isaa utubaa cabbii cululuxxu'uu,
 ka worqii qulluu irra dhaabbatu fakkaata.
 Inni gaara Libaanonii fakkaata;
 akka hindheensa Libaanonii
 ka mara caalaa filatame.

¹⁶ Haasonni isaa guddoo mi'owa;
 inni guddoo jaalatama'a.
 Ee, dubartoota Yerusaalemii,
 jaalalleen kiyya, jaalli kiyya isa.

6

Dubartooti Jaaloti Waajibitti'ii

- ¹ Ati ta dubartoota caalaa dansittii teete!
 Jaalalleen keeti eessa dhaqe?
 Akka si woliin barbaannu,
 karaa kam gore?

Waajibittii

- ² Jaalalleen kiyya horii tiffatiisaaf,
 daraaraalle guuratiisaaf,
 gara oorruu uddowaa ifii gad dhaqeera.
³ Ani ta jaalallee kiyyaa ti; innille kiyya;
 inni odduu daraara'aa horii tissa.

*Faaruu Shaneesso'oo**Waajibichi*

- ⁴ Ee, jaalallee tiyya,
 ati akka qachaa Tiiza'aa miidhadda;
 akka qachaa Yerusaalemii tolta;
 akka loltoota baandiraa qabatanee deemanuu
 arnya qadda.
⁵ Ilti teeti waan na boojiteef,
 na irraa deebifadhu!
 Rifeensi mataa keetii re'oota
 gaara Giil'aadii irraa gad yaatu fakkaata.
⁶ Ilkaan keeti akka hoolota adii
 dhiqamanee bisaan keessaa bayanuu addaata;
 hooloti tun martinuu lakkuu dhalti malee
 isaan keessa maseenti hin jirtu.
⁷ Mallaan teeti lamaan
 shaashii ati hagooggattu keessaa,
 midhaan rumaanii ka gargar baqaqe fakkaatti.
⁸ Giittoti jaatamaa fi gursumeeyyiin saddeettami,
 durri laakkossi isaanii haga hin qanne,
 jiraachuu dande'an.
⁹ Saphaliisi tiyya
 ta anaaf dhidhinna hin qanne isii qofa;
 isiin haadha ifitiif takkatti'i;
 ta isii deette isii jaalatti.
 Ijoolleen durraa isii dhagganee
 «Ati ta leellifante» jedhaneen;
 giittotii fi gursumeeyyiille isii leellisane.

Dubartooti Jaaloti Waajibitti'ii

- ¹⁰ Ta akka boruu dayya'uu mudhattu,
 ta akka ji'aa miidhaddu,
 ta akka adu'uu issitu,
 ta akka loltoota baandiraa qabatanuu
 arnya qaddu tun eennu?

Waajibichi

- ¹¹ Ani muki woyni'ii akka quunxe,
 muki rumaaniille akka guntute ilaaliisaaf,
 gara dhooqa oorruu muka, «Almond» jedhamuu
 gad dhaqe.
¹² Adoo ani hin beekin halchaan tiyya na buttee,

garreettaa fardaan harkifamu
ka qondaaltota kolbaa tiyyaa keessa na keette.

Dubartooti Jaaloti Waajibitti'ii

¹³ Ee, Shulaamitti'i! Deebi'i, deebi'i!
Akka nuuti si ilaalluuf, deebi'i, deebi'i!

Waajibichi

Akka nama sirba darabaa lamaa ilaaluu,
Shulaamittii tana isin maaf ilaaltan?

7

Waajibichi

¹ Ee, intala gondaalaa!
Miilli keeti kophee bexxellicha keessaa,
attam attam dansa'a!
Baarreen tafa keetii dooqa
harki nama hujii harkaa beeku huje fakkaata.

² Handhurti teeti kuruurruu
akka qorii daadhiin woyni'ii keessaa hin dhabannee fakkaatti.
Uffaan keeti tuulaa gamadi'ii
ta daraaraan itti naanneffame fakkaata.

³ Harmi keeti lamaanuu
lakkuu ilmoolee jiliba'aa fakkaata.

⁴ Mormi keeti xelleephoo
ilka arbaa irraa hujante fakkaata.
Itti teeti lamaanuu baleessa Heshiboonii
ka karra Batraabiimii biraa fakkaatan.
Funnaan keeti xelleephoo Libaanonii
ta gara Damaasqo'oo fuula galteertu fakkaata.

⁵ Mataan keeti gaara Qarmelosii fakkaata;
rifeensi mataa keetiille
maraa haarrii dhiille'ee fakkaata;
mootichille shurrubbaa kanaan booji'ameera.

⁶ Ee, jaalallee tiyya!
Ati attam attam miidhadda!
Ati attam attam tolta!
Attam attam nama gammachiitta!

⁷ Hojjaan teeti muka meexxi'ii,
harmi keeti unkuruura isi'ii fakkaata.

⁸ Ani, «Muka meexxi'ii san hin yaaba;
damee isaa hin qabadha» jedhe.
Harmi keeti akka unkuruura woyni'ii,
fooleen hafuura keetii
akka foolee muka appili'ii teetuu ti.

⁹ Fooleen afaan keetiille
akka foolee daadhii woyni'ii dansa'aa teetuu ti.

Waajibittii

Daadhiin woyni'ii sun
hidhi'ii fi ilkaan jaalallee kiyyaa keessa dabartee,
laana gad buutuu ti.

¹⁰ Ani ta jaalallee kiyyaa ti;
inni na halcha.

¹¹ Jaalallee kiyya, koy!
Baadiyyaa dhandhee,
ollaa keessa bullaa ti.

- ¹² Barii ganamaan kaanee,
 gara addee muka woyni'ii dhandhee,
 muki woyni'ii guntutee akka bage,
 muki rumaaniille akka daraare ilaalla!
 Ani achitti jaalala kiyya si'iif hin kenna.
- ¹³ Midhaan muka fedhii jaalalaa kakkaasu
 hin uddowa;
 ee, jaalallee kiyya,
 midhaan dadansaan marti,
 ka amma guuramee fi ka bilchaate,
 ka ani si'iif lafa keyeeru
 balbala teenna dura jiran.

8

- ¹ Ati adoo obboleessa kiyya
 ka harma haadha tiyyaa hodhe, naaf teetee,
 ani karaa irratti si dhaggee,
 adoo si sungadhee jiraadhe,
 silaa eennulle na hin tuffatuuyyu.
- ² Ani silaa gara mana haadha tiyyaa,
 ta na barsiittee si geessee,
 daadhii woyni'ii dansaa sii kennee,
 cunfaa midhaan muka rumaaniille
 si obaasaayyu.
- ³ Harki isaa bitaachi
 mataa kiyya jala adoo jiraataa;
 harki isaa middichi adoo na hanqafata.
- ⁴ Ee, dubartoota Yerusaaalemii,
 jaalalleen kiyya haga inni fedhuma ifitiin ka'utti,
 akka isa hin dammassine,
 ani isin kadhada.

Faaruu Jayeesso'oo

Dubartooti Jaaloti Waajibitti'ii

- ⁵ Ta jaalallee ifii qabattee,
 goomolee keessaa ol bayiisatti jirtu tun eennu?

Waajibittii

- Ani muka appili'ii jalaa si kaase;
 haati teeti achitti ulfoottee,
 isiin achitti ciniinsifattee si deette.
- ⁶ Akka chaappa'aatitti gadhaa keeti keessatti,
 irree teeti irralle'etti na mallatteeffadhu.
 Jaalalli akka du'aa jabaata;
 hinaaffaalle akka boolla awwaalaa jabaatti.
 Bobeenni isi'ii akka bobe'a ibiddaa,
 ka tallisuu ti.
- ⁷ Bisaan guddaan
 ibidda jaalalaa dhaanfuu hin dande'u;
 lolaan haree hin dande'u.
 Nami tokko qabeenna mana ifii mara
 jaalalaaf yoo kenne,
 ijjumaa hin tuffatama.

Obboleeyyan Waajibitti'ii

- ⁸ Nuuti obboleettii diqqittii,

guntuta hin baasin takka qanna.
 Guyyaa isii kadhatane,
 nuuti maan goona laati?

- ⁹ Adoo isiin dalleyaa dhaka'aa teetee,
 xelleephoo meeti'ii isii irratti hin ijaarra;
 adoo isiin balbala teetee,
 saanqaa hindheensaatiin hin cunna.

Waaqibittii

- ¹⁰ Ani dalleya dhaka'aa ti;
 harmi kiyya xelleephoo fakkaata;
 ani ila isaa duratti nama nageya isaaf fidu te'e.
- ¹¹ Solomoon Ba'aal-Hamoon keessaa
 oorruu muka woyni'ii qabaayyu.
 Oorruu muka woyni'ii san worra eegutti kireesse;
 tokko tokkoon isaanii
 gatii midhaan woyni'iitiif,
 meetii kuma tokko tokko fidaniyyu.
- ¹² Oorruun muka woyni'ii tiyya, tiyyuma;
 ee Solomoon, ati kuma fudhadhu;
 worri oorruu muka woyni'ii eegulle
 dhibba lama fudhatuu ti.

Waaqibichi

- ¹³ Ee, ati ta oorruu keessa leetu,
 jaaloti tiyya qoonqoo teeti caqasiisatti jiran;
 anille qoonqoo teeti dhage'uu ti.

Waaqibittii

- ¹⁴ Jaalallee kiyya, dafii koy!
 Akka jiliba'aa yookiin akka ilmoolee gadansaa
 gaara uddowaan itti latu irraa utaalii koy!

Kitaaba Isaayaasii Raagichaa Seensa

Kitaab Isaayaasii raagichaa dhaloota Kiristoosiitiin dura gara dhuma jaar-raa saddeetesso'ootitti, maqaa raagicha guddaa Yerusaalem keessa le'eetiin waamame; kitaab kun kutaa gugurdoo saditti qoodama. 1. Kutaan foora 1-39 Marroo yennaa mootummaa kibbaa Yihuda'aa, mootummaa hunnaamet-tii ollaa isi'ii ta «Asoor» jedhantuun lolli irra dhaqqabe dubbata. Mootum-maa Yihuda'aa irratti lola ka kaase, hunna mootummaa Asoorii adoo hin te'in, cubbuu kolba'aa, Waaqaaf ajajamiisa dhabiisaa fi isatti addii dhabiisa isaanii Isaayaas dhagge. Raagichi dubbi'ii fi hujii ifa teeteen, kolba'aa fi sooreyyiin gara jiruu balchumma'aatii fi haqaatitti akka deebi'anuuuf waamee, Waaqaaf ajajamiisa dhabiis hiree gadhe'ee fi badii akka fiddu isaan ifi eeggachiise. Isaayaas ammalle barri biyya lafaa duudii irratti nageenni te'uu fi sanyii Daawitii keessaa mootiin haqaan bulchu akka dhufu'uu jiru dursee dubbateera.

2. Kutaan foora 40-55 Kolbaan Yihuda'aa gara biyya Baabilonii booji'antee, achitti bututtee addii akka kutatte dubbata. Raagichi, Waaqi kolbaa ifii bilisa akka baasuu fi le'ii haareya akka jalqaddu gara Yerusaalemii akka isaan deebisu lallabeera. Yaadi guddaan foorota kana keessaa, abbaan dabarsi'ii, Mootii Waan Maraa Waaqa akka te'ee fi karoorri inni kolbaa ifiitiif qabu, gosa biyya adda addaa ta karaa Israa'eliitiin eebbifantuuf, kolbaan ergaa dabarsuu akka qaddu ka hubachiisu. Kutaan kun Gondo-roo Qaraa keessatti marroo, «Tajaajilaa Mootii Waan Maraa» ka dubbatanuutitti laakkowama.

3. Kutaan foora 56-66 irra caalaa kolbaan gara Yerusaalemii yennaa deebite, waadaan Waaqi isaaniif gale akka muummowu, marroo kolbaa waan ittiin mirkaneeffattu barbaaddee dubbata. Wonni xiyyeeffannaan addaa godhameef balchumma'aa fi haqa, Sanbata ulfeessiisa, ciincaa dhi-keessiisaa fi daadimatiisa. Kutaa kana keessatti foorri beekkamaan 61:1-2 yoo te'u, jechoota Yesuus jalqaba tajaajila ifii irratti waamicha ifii ifa godhiisaaf ka itti fayyadame.

Haadhoo Dubbi'ii

Ifi Eeggachiisiisaa Fi Waadaa Galiisa 1:1–12:6

Adabamiisa Gosa Biyya Adda Addaa 13:1–23:18

Biyya Lafaa Adabiisa Waaqaa 24:1–27:13

Ammalle Ifi Eeggachiisiisaa Fi Waadaa Galiisa 28:1–35:10

Mootii Yihuda'aa Hisqiyaasii Fi Worra Asoorii 36:1–39:8

Ergaa Waadaa Galiisaatii Fi Addii Kenniisaa 40:1–55:13

Ifi Eeggachiisiisaa Fi Waadaa Galiisa 56:1–66:24

¹ Mudhiin ilmi Amosii Isaayaas bara Uziyaan, Yotaam, Ahaazii fi Hisqiyaas mootota Yihuda'aa te'anetti marroo Yihuda'aatii fi Yerusaalemii dhagge, ta asii gadi jirtu.

Waaqi Kolbaa Ifi Xixe

² Mootiin Waan Maraa, «Ee ol-gubba'a dhage'i! Ee lafa caqasi! Ani ijoollee uumadhee guddifadhe; isaan ammoo hammeennaan na irratti ka'ane.

³ Qotiyyoon gootaa ifii,
harreelle goongaa abbaa isii horatee hin beetti;
Israa'el ammoo hin beettu;
kolbaan tiyya hin hubattu» jedhe.

⁴ Kolbaa cubbaalettii, kolbaa yakkaamettii, sanyii worra hantuu hujuu, worra amala hama'aatiif aanne'e! Isaan Mootii Waan Maraa lakkisaneeran; Waaqa woyyicha Israa'elii tuffatanee dudda itti galaneeran.

⁵ Isin maaf ammalle adabamiisa barbaaddan? Isin maaf finqila lakkisuu dhaddan? Mataan keessan addee mara madayeera; gadhaan keessanille raafameera.

⁶ Faana miila keessaniitii haga gubbaa mataa keessaniititti fayyaa hin qaddanu; nafi madaa, iitaa fi malaalle'een guutameera; madaan teessan sun wolitti hin deebine, hin hidhanne; zayitiille'een hin laanne.

⁷ Biyyi teessan ona hin teeti; qachooti keessan ibiddaan hin gubata. Adoo isin ilaaltanuu ormi fichaa keessan fudhatee, akka lafa diinni qabatee hin barbadootti.

⁸ Intalti Xiyoonii akka gosee fichaa woynii keessaa, akka mana fichaa baagulaa keessaatii fi akka qachaa diinni marsee hin teeti.

⁹ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade adoo sanyii nuuf hamburiisa dhabee jiraate, silaa akka Sodoomii teenee, Gomoraalle hin fakkanaayyu.

¹⁰ Isin bulchoota Sodoomii jecha Mootii Waan Maraa dhage'a'a! Isin kolbaa Gomora'aa seera Waaqa keennaa caqasa'a.

¹¹ Mootiin Waan Maraa, «Bacatiis ciincaa keessanii maan naa godha? Ani ciincaa korbeessa hoole'eetii fi cooma horii gagabbo'oo quufeera; ani dhiiga korommi'iititti, dhiiga korbeeyyii hoole'eetii fi re'ootaatitti hin gammadu.

¹² Isin na duratti yennaa dhikaattanu, kana mara akka fiddanuu fi Galma kiyya dura akka dhaabbattanu ennuttuu isin gaafate?

¹³ Woreega bu'aa hin qanne hin fidina'a; ani hixaana keessan diqadheera; jila baatii ji'aa, Sanbata, yaa'ii fi wolde'a keessan ka hammeennaan guutamelle ossuu dadhabeera.

¹⁴ Ani jila baatii ji'aa teessanii fi jila teessan ta beekkante jibbeera; isaan ba'aa natti te'anee, ossuu dadhabeera.

¹⁵ «Yennaa isin harka keessan gara kiyya badhifattanee daadimattanu ani gara keessan hin ilaalu; harki keessan dhiigaan waan guutameef, yoo guddoo daadimattanelle ani isiniif hin dhage'u.

¹⁶ Dhiqadha'aatii ifi qulqulleessa'a; hujii teessan hantuu, ila tiyya duraa kaasa'a; hantuu hujiisa lakkisa'a.

¹⁷ Dansaa godhiisa baradha'a; haqa barbaada'a; worra cunqurfame qarqaara'a; ijoollee haadhaa fi abbaa hin qanne qarqaara'a; haadha hiyyeessaatiif falma'a.

¹⁸ «Kowa'a, wol komanna; cubbuun teessan akka dhiigaa diimatulle, akka dhakaa bokkeyaa hin addaatti; akka dhiigaa diimattulle akka fuutta'aa hin addaatti.

¹⁹ Tole jettanee yoo naaf ajajantane, waan dansaa latti baattu hin nyaattan.

²⁰ Diddanee yoo na finqiltane, shallaagaan isin hin nyaata» jedhee ani Mootiin Waan Maraa dubbadheera» jedhe.

Qachaa Cubbu'uun Guutame

²¹ Qachaan addatamaan attam sagaagalaa te'e? Dur haqi isa keessa guuteeraayyu; balchummaalle isa keessa jirtiyyu; amma ammoo worri nama ijjeesu keessa guuteera.

²² Yersaalem! Meetiin teeti ciillotteerti; daadhiin woyni'ii teeti bisaaniin makanteerti.

²³ Bulchitooti teeti finqiltoota; jaalota hatuu'uu ti; isaan marti safuu jaalatan; kennansa gula deeman; ijoollee haadhaa fi abbaa hin qanneef hin falmanu; iyyata haadha hiyyeessaalle hin dhage'anu.

²⁴ Tanaaf Gootaan, Mootiin Waan Maraa, Ka Waan Mara Dade, hun-naamessi Israa'elii, «Ani nyaaphota kiyya irratti aarii tiyya hin dhangalaasa; diinota tiyyalle haluu hin baya.

²⁵ Ani aarii tiyya hantu'uun si hin adaba; ciilloyiisa keeti irraa si hin qulleessa; xurii teeti mara si irraa hin kaasa.

²⁶ Ani abbootii mura'aa teeti akka duriititti, gorsitoota teetille akka jalqabaatitti hin deebisa; achiin duuba ati, «Qachaa balchumma'aa, qachaa addatamaa» hin jedhanta» jedhe.

²⁷ Xiyyoon haqaan, worri isii keessaa ka cubbuu irraa deebi'u balchumma'aan hin wodaman.

²⁸ Finqiltootaa fi cubbaaleyyiin ammoo wolumatti hin caccaban; worri Mootii Waan Maraa lakkisulle hin bada.

²⁹ Isin sababa qilxaa waaqonfattanutiif hin qaanottan; oorruu filattaneefille hin salphattan.

³⁰ Isin akka qilxaa baalli isaa qooree, akka oorruu bisaan hin qannee hin teetan.

³¹ Nami jabaan akka haasumee ibiddaa, hujiin isaalle akka qaanqee ibiddaa hin teeti; isaan lamaanuu hin gubatan; nami isaan irraa dhaanfulle hin jiru.

2

Nageya Bara baraa

(Mik. 4:1-3)

¹ Ilmi Amosii Isaayaas marroo Yihuda'aatii fi Yersaaleemii waan asii gad jiru dhagge.

² Bara muumme'eetitti
gaarri Galmi Waaqaa irra jiru,
gaarota mara hin caalaa;
koobota mara caalaa ol hin ka'a.
Gosi biyya adda addaa marti
gara isaa hin yaati;

³ kolbaan hedduun dhuttee,
«Xiyyoon keessaa seerri,
Yersaaleem keessaalle'ee
jechi Mootii Waan Maraa waan bayuuf,
karaa ifii akka inni nu barsiisuuf,
nuutille daandii isaa irra akka ideennuuuf,
kowa'a gara gaara Mootii Waan Maraa,
gara Galma Waaqa Yaaqoobii
ol baanaa!» hin jetti.

⁴ Inni gosa biyya adda addaa oddu'utti
mura kennee,
wolii gala dhaba kolbaa heddu'uulle
hin balleessa.

Isaan shallaagaa ifii tumanee qottoo,
eboo ifille haantuu hin godhatan;
gosi biyya adda addaa
shallaaga'aan wolitti hin kaatu;
isaan deebi'anee lola hin baratantu.

⁵ Ee, sanyii Yaaqoobii
kowa'a, ifa Mootii Waan Maraa keessa deddeebina!

Guyyaa Mootii Waan Maraa

⁶ Ee Mootii Waan Maraa, ati kolbaa teeti sanyii Yaaqoobii lakkitteerta; isaan moruu worra gara aduun baatuutiin guutamanee, akka worra Filisx-eemotaa moran; orma woliin harka dhowan.

⁷ Latti isaanii meeti'ii fi worqi'iin guutanteerti; karri isaanii haga hin qaddu; lafa isaanii keessa fardoona guutteerti; garreetaan isaanii ka fardaan harkifamu haga hin qabu.

⁸ Latti isaanii waaqota dharaatiin guutanteerti; isaan waanuma harka ifitiin hujanetti sagadan.

⁹ Maarre, sanyiin namaa gad jetteerti; nami marti qaanoweera; Waaqa, isaaniif hin araaramin!

¹⁰ Aarii Mootii Waan Maraati fi hunnaa isaa guddoo duraa gara rassa'aa dhaqa'aatii, lafa keessatti dhokadha'a.

¹¹ Ilti nama kooruu lafa hin ilaalti; worri ifi saadu hin salphata; guyyaa san Mootii Waan Maraa qofatti ulfinnaan ol ol jedha.

¹² Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, worra kooruu fi ifi saadu irratti,

¹³ hindheensa dhedheeraa Libaanoniitii fi qilxaa Baashaanii mara irratti,

¹⁴ gaarota dhedheera'aa fi koobota ol kaate mara irratti,

¹⁵ xelleephoo dhedheertu'uu fi dalleya dhaka'aa mara irratti,

¹⁶ hoboloota gugurdoo Tarshiishiitii fi hoboloota mimmidhaaddu mara irratti guyyaa dhufu qaba.

¹⁷ Ifi saaduun namaa hin baddi; koorri namaalle hin hafa; guyyaa san Mootii Waan Maraa qofatti ulfinnaan ol ol jedha.

¹⁸ Waaqoti dharaa ijjumaa hin badan.

¹⁹ Yennaa Mootiin Waan Maraa biyya lafaa tachoosiisaaf ka'u, namooti aarii isaatii fi hunna isaa guddoo duraa gara goda rassa'aatii fi boolla lafaa hin baqatan.

²⁰ Guyyaa san namooti waaqota dharaa waaqonfatiisaaf, meeti'ii fi worqii irraa ka hujatane tuqa'aa fi cirrichoo duratti hin gatan.

²¹ Yennaa Mootiin Waan Maraa biyya lafaa tachoosiisaaf ka'u, namooti aarii isaatii fi hunna isaa guddoo duraa gara goda rassa'aatii fi dho'a rassa'aa keessa hin seenan.

²² Nama du'u ka hafuurri isaa funnaanirra jirutti hin addatina'a; inni bu'aa hin qabu.

3

Muraa Yerusaleemii Fi Yihudaa Irratti Dhufu'uu Jirtu

¹ Kunoo, Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dande'u, waan isaaniif barbaachisu mara, sagale'ee fi bisaanille, Yerusaleemii fi Yihudaa duraa hin balleessa;

² jannootaa fi loltoota isaanii, abbootii isaanii ta mura'aatii fi raagota isaanii, worra isaaniif moruu fi jaarsolee isaanii,

³ ajajaa shantamaatii fi worra ulfinna qabu ka isaanii, gorsitootaa fi beek- kicha hujii harkaa ka isaanii, morticha qaricha isaan duraa hin balleessa.

⁴ Dargaggooti akka isaan sooressanu, ijoolleen akka isaan bulchanu hin godha.

⁵ Kolbaan wol hin cunqursiti; nami nama irratti, ollaan ollaa irratti, dargaggooti jaarsolee irratti, nami tuffatamaan nama ulfinna qabu irratti hin ka'a.

⁶ Yennaa san nami tokko obboleessa ifii, ka mana abbaa ifii keessa jiru tokko qabee, «Ati woyaa waan qadduuf, sooressa nuuf te'i; itti gaafatamum-maa tuulaa diigante tanaalle fudhadhu» hin jedha.

⁷ Guyyaa san ammoo inni qoonqoo ol qabatee, «Ani sagalee yookiin woyaa mana kiyya keessaa waan hin qanneef, isin qarqaaruu hin dande'u; soorressa na hin godhina'a» hin jedha.

⁸ Yersaaleemii fi Yihudaan dubbii ifitii fi hujii ifitiin Mootii Waan Maraa mormanee, ulfinna isaa waan batteessaneef, Yersaaleem jigiisaaf hin tintinti; Yihudaalle hin jiga.

⁹ Akka isaan yakkaameyyii te'ane, fuulli isaaniituu dhugaa isaan irratti hin baya; isaan akka worra Sodoomii cubbuu ifii lallaban; hin dhoffatanulle'e; isaan badii waan ifitti fidaneef, isaaniif aanne'e.

¹⁰ Balchooti gatii hujii ifii waan dhaggatanuuf, wonni dansaan akka isaaniif te'u'uuf jirtu, itti hima'a.

¹¹ Yakkaameyyiin gatii hujii ifii waan dhaggatanuuf isaaniif aanne'e! Badiin isaan irratti hin dhutti.

¹² Dargaggooti kolbaa tiyya cunqursiti; dubartooti isaan bulchiti.

Kolbaa tiyya! Soorressitooti teessan isin dokonkorsiti; daandii irralle'ee isin gorsiti.

Mootiin Waan Maraa Kolbaa Ifititti Hin mura

¹³ Mootiin Waan Maraa barcumaa ifii ka mura'aa irra te'eera; kolbaa ifititti muriisaaf ka'eera.

¹⁴ Inni jaarsolee kolbaa ifitii fi sooreyyii kolbaa ifii mura'atti dhikeessee, «Isin oorruu woyni'ii tiyya saantaneertan; wonni isin hiyyeeyyii irraa saantane mana keessan jira.

¹⁵ Kolbaa tiyya butuchiis keessan, fuula worra hiyyeeyyi'ii shankalleessiis keessan kun maaniif?» jedha.

Ifi Eggachiisa Dubartoota Yersaaleemiitiif Kenname

¹⁶ Mootiin Waan Maraa, «Ijoolleen durraa ta Xiyoonii kooraneeran; morma toganee, ilaan qiphifataa, ideensaan sassaqa gumee miilaa qilillisiisaa deeman.

¹⁷ Tanaaf ani Mootiin Waan Maraa, mataa ijoollee durraa Xiyooniititti sangee hin buusa; mataa isaanii irraa sossa» jedha.

¹⁸ Guyyaa san Mootiin Waan Maraa gumee isaan miila ifititti keyatanu, faaya mataa isaaniitii fi faaya morma isaanii,

¹⁹ qubee gurra isaanii, irmuura isaanii, woyaa fuulatti hagooggatanu,

²⁰ marata mata'aa, irmuura isaanii, hanfala isaanii, bilqaadii fiqire'ee, qudhaama isaanii,

²¹ qubee quba isaaniitii fi qubee funnaan isaanii,

²² woyaa jilaa, woyaa isaan keessaan uffatanu, geellaa isaanii, subba harkatti qabatanu,

²³ daaw'itii isaanii, woyaa isaanii ta quncee talba'aa irraa hujante, seesa mata'aatii fi foomaa isaanii isaan irraa hin fuudha.

²⁴ Addee foolee fiqire'ee, fooleen ajoottu, addee hanfala'aa wodaroon, addee rifeensa mata'aa, sangeen, addee woyaa dansa'aa, woayaan gaddaa, addee dansumma'aa, gadaannis isaanitti hin te'a!

²⁵ Namooti keeti shallaaga'aan, loltooti teetille lola keessatti hin dhumatan.

²⁶ Bowaa fi gaddi Karra Xiyoonii biratti hin te'a; Xiyoona akka dubartii waan mara dhaddee gadditee lafa irra teettuu hin teeti.

4

¹ Yennaa san dubartooti torba dhiira tokko qabattee, «Nuuti sagaluma teenna hin nyaanna; woayaalle teennuma uffanna; salphinni keenna akka hafu, maquma keetiin waamannuu ti» hin jetti.

Adde'etti Deebi'iisa Yerusaalemii

² Yennaa san wonni Mootiin Waan Maraa lafa irratti lachisiisu ka miidhagu fi ka ulfinna qabu hin te'a; midhaan muka lafa irratti latulle kolbaa Israa'elii worra baraaree hafeef, kooraa fi ulfinna hin te'a.

³ Worri Xiyoona keessatti hafee Yerusaalem keessa haga ammaa le'iisatti jiru, Yerusaalem keessatti worra baraaree hafee galmowe mara waliin woyyoota jedhamanee hin waamaman.

⁴ Mootiin Waan Maraa dubartoota Xiyoonii irraa xurii hin dhiqa; ayyaana mura'aatii fi ayyaana ibiddaatiin Yerusaalem irraa dhiiga dhiqee hin qulleessa.

⁵ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa gaara Xiyooniitii fi worra achi irratti wolitti qabamane mara irratti guyyaa duumensaa fi aara, halkan ibidda bobe'u hin dada; ulfinni isaalle qachaa san guutumatti itti hin gonbooba.

⁶ Gonboobi sun yennaa o'a adu'uu, gaaddisaa fi waan jalatti qophatanu, yennaa bubbe'eetii fi bokkeyaa addee itti baqatanuu fi addee itti dhokatanu hin te'a.

5*Faaruu Marroo Oorruu Muka Woyni'ii*

¹ Ani amma jaalallee kiyyaaf
marroo oorruu isaa
ta muka woyni'ii faaruu hin faarsa.

Jaalalleen kiyya kooba lafa laattuu irratti
muka woyni'ii tokko qabaayyu.

² Inni lafa qotee dhakaa keessaa guuree,
sanyii woynii dansa'aa achitti dhaabe;
xelleephoolle wodhakka'atti ijaaree,
addee midhaan woyni'ii itti cunfanu miidhasseef.

Achiin duuba inni
midhaan dansaa buutti jedhee eeggate;
woyniin ammoo midhaan dhangaggowu buutte.

³ Maarre jaalalleen kiyya, «Isin worri Yerusaalemii fi Yihudaa keessa leetanu, waan anaa fi oorruu muka woyni'ii tiyyaa wodhakkaa jiru irratti muraa kenna'a.

⁴ Tana caalaa muka woynii tiyyaatiif, maan godhuu qaba ree? Midhaan dansaa buutti jedhee adoo eegadhuu, midhaan hadhowaa maaf buutte ree?

⁵ «Yoona oorruu muka woyni'ii tiyya maan akka godhu isinitti hima; dalleya irraa buqqisee, bineensoti akka dheedanu hin godha; bineensoti akka irra sirbanu, dalleya dhaka'aalle irraa hin diiga.

⁶ Ani addee muka woyni'ii san lafa duwwaa hin godha; muki woyni'ii sun hin quxamu yookiin jalli isi'ii hin qotamu; qore'ee fi qumi'uuduun achi keessatti hin latti; bokkeenni akka itti hin roonneefille duumensa hin ajaja» jedha.

⁷ Muki woyni'ii ka Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dade sun,
gosa Israa'elii ti;
kolbaan Yihuda'aa oorruu inni itti gammadu.

Inni haqa barbaade,
ammoo, dhiiga dhangalaasiisa dhagge;
balchummaa barbaade,
ammoo, iyya rakkinnaa dhage'e.

Hammeenna Kolba'aa

⁸ Isin worra addeen tokkolle hin hafin, mana qaddanu irratti mana, fichaa qaddanu irralle'etti fichaa ede'attanee, lafa fudhattanee qofii qofii teessan leetanuuf aanne'e!

⁹ Mootiin Waan Maraa ka Waan Mara Dade, adoo ani dhage'uu, «Dhugumaan manni hedduun hin ona; manni gugurda'aa fi dadansaan nama malee hin hafan.

¹⁰ «Midhaan woyni'ii ka lafa hekitaara kudhanii, cunfaa woyni'ii litirii saddeeti qofa hin te'a. Sanyiin kiiloo dhibba tokkoo fi saddeettamaa facaafantee, midhaan kiiloo kudhanii saddeeti qofa hin kenniti» jedhe.

¹¹ Worra untoo macheessitu barbaadatiisaaf ganamaan ka'uuf, worra haga untoon jadduun isaan guddutti, haga halkanii turanuuf aanne'e!

¹² Isaan jila ifii irratti kiraara guddichaa fi Maseenqoo, dibbee, suusulle'ee fi daadhii woyni'ii qaban; ammoo hujii Mootii Waan Maraa itti hin xiyyeef-fanne; hujii harka isaatiifille ulfinna hin kennine.

¹³ Tanaaf kolbaan tiyya beekkumsa dhabiisaan hin booji'anti. Sooreyyiin isaaniille beelaan hin dhumatti; kolbaan bindillaalle dheebu'uun hin gubatti.

¹⁴ Tanaaf Boolli awwaalaa gadhaa badhifattee, afaan ifille akka malee banatteerti; isiin qondaaltota Yerusaalemiitii fi kolbaa wolitti qabantee gammadaan hogittu hin liqinsiti.

¹⁵ Maarre nami hin salphata; worri kooru duudiin gad hin qabama. Ilti worra kooruulle lafa hin ilaalti.

¹⁶ Mootiin Waan Maraa ka Waan Mara Dade ammoo, haga ifitiin ol ol hin jedha; Waaqi woyyichille woyyummaa ifii balchummaa ifitiin hin mudhisa.

¹⁷ Achiin duuba hooleen akkuma kaloo ifii achi keessa hin dheeddi; korbeeyyiin hoole'ee gagabboon lafa onte ta worra dureeyyi'ii keessa hin dheeddi.

¹⁸ Worra wodaroo sobaatiin yakkaa harkisuuf, worra wodaroo garreetta'aatiin cubbuu harkisuuf aanne'e!

¹⁹ Worra, «Nuuti akka dhagginuuf, Waaqi ariifatuu ti; hujii ifille ariifachiisuu ti. Nuuti akka beennuuf, karoorri woyyicha Israa'elii ariiti'iin muummowuu ti; dafeelle dhufuu ti!» jedhuuf aanne'e.

²⁰ Worra «Hantu'uun dansaa, dansa'aan hantuu, dukkanaa ifa, ifaan dukkana, waan hadhowuun mi'owaa, waan mi'owuun hadhowaa» jedhuuf aanne'e!

²¹ Worra garo'oo fi qaruuxee ifi seyuuf aanne'e!

²² Worra daadhii woyni'ii uniisatti jannoota te'aneef, worra untoo macheessitu wolitti makiisaan beekkameef aanne'e!

²³ Worra safuu fudhatee yakkaamessa bilisa baasu, worra yakkaa hin qanne haqa dhooggatuuf aanne'e!

²⁴ Isaan seera Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dade didanee, jecha Waaqa woyyicha Israa'elii waan tuffataneef, akkuma bobeenii ibiddaa hi-caace'ee fi marra gogaa gubee balleessu, akkasuma hiddi isaanii hin shama; daraaraan isaaniille akka buku'uu afuufamee hin bada.

²⁵ Tanaaf, aariin Mootii Waan Maraa kolbaa isaa irratti bobetteerti; inni harka ifii ol fudhatee isaan dhoweera; gaaroti raafamaneeran; reeffi akka kosi'ii karaa keessatti tuulame; tun marti teetulle inni aarii ifii hin caffanne; harki isaa akkuma ol fudhatametti jira.

²⁶ Inni gosa biyya adda addaa, ta fagoo jirtuuf beessisa dhaaba; kolbaa qaccee biyya lafaa jirtu waamiisaaf siissa. Isaanille dafanee ariiti'iin dhufan.

²⁷ Isaan keessaa ka dadhabuu fi gufatu, ka muguu fi ka rafu hin jiru; hiituun hidha isaanii hin luttu; hidhaan kophee isaaniille hin citu.

²⁸ Daayi isaanii qara qaba; guubeen isaanii marti gad lakkifamiisaaf qophootteerti; kotteen fardoo isaanii akka dhakaa qara qabuu ti; korboon garreettaa isaanii ka fardaan harkifamuu akka hobonbolatti'ii fiiddi.

²⁹ Isaan akka neenqaatii fi akka dardaroota neenqaa dhangaa dhowan; waan adansanee qabatane itti gurura'anee, fudhatanee deeman; nami isaan irraa buusu tokkolle hin jiru.

³⁰ Guyyaa san isaan akka danbalii abbaaya'aa hin bulphisan; kolbaan yennaa lafa ilaaltu, dukkanaa fi rakkinna hin dhaggiti; ifinuu duumensaan hin gollama.

6

Waamamiisa Isaayaasii

¹ Woggaa mootichi Uziyaan du'e, Gootaan barcumaa mootumma'aa dheeraa, ulfinna qabu irra tee'ee, handaarri woyaa isaalle Galma Woyyicha isaa guuteeruun dhagge.

² Dadi ol-gubba'aa ka «Suraafel» jedhamanu isaan gubbaa dhaabbata-neeran; tokkoon tokkoon isaanii koola jaa qaban; koola ifii lamaan fuula ifii, koola ifii lamaan miila ifii gollatan; koola ifii lamaan ka'anee deeman.

³ Isaan wol wol irraa fuudhaa,
«Woyyu'u! Woyyu'u!

Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade woyyu'u.
Latti duudiin ulfinna isaatiin guutanteerti» jedhane.

⁴ Iyya qoonqoo isaaniitiin,
hundeen Galma Waaqaa tachoote;
Galmille aaraan guute.

⁵ Anille, «Ani nama hidhiin battootte; kolbaa hidhiin battootte odduu waan le'uuf, ilti tiyyalle Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade waan dhaggiteef, ani badeeraa, naaf, aanne'e!» jedhee iyye.

⁶ Achiin duuba Suraafeloota san keessaa tokkochi, addee ciinca'aa irra kashila ibiddaa qarapha'aan fuudhee harkatti qabatee, gara kiyya koolaan ka'ee dhufe.

⁷ Inni kashila ibiddaa saniin afaan kiyya tuqee, «Kunoo, kashilli kun hidhii teeti waan tuqeef, yakkaan teeti si irraa kaateerti; cubbuu teetiifille araarri kennameera» naan jedhe.

⁸ Achiin duuba qoonqoon Goota'aa anaan, «Ani eennu erga? Eentu ergaa nuuf dhaga?» jettuun dhage'e; anille, «Ani kunoo ti. Na ergi!» jedheen.

⁹ Maarre inni anaan, «Gara kolbaa tanaa dhaqiitii, Isin caqasiisa hinuma caqattan, ammoo hin hubattanu, ilaaliisa hinuma ilaaltan, ammoo ijjumaa hin dhaggitanu» jedhiin» jedhe.

¹⁰ Achiin duuba inni anaan, «Qalbii kolbaa tanaa cufi; gurra isaanii duuchi; ila isaaniille cufi; yoo akkas hin te'in, ila ifitiin ilaalanee, gurra ifitiin dhage'anee, qalbii ifitiin hubatanee, deebi'iisaan hin fayyan» jedhe.

¹¹ Achiin duuba ani, «Ee, Goota'a, tun haga yoomii teeti?» jedhee gaafadhe.
Gootaan deebisee, «Haga qachooti diigamee, namooti keessa le'anu dhaba-manutti, haga manooti onee, latti ijjumaa duwwaa teetutti,

¹² haga ani Mootiin Waan Maraa namoota fagoo ergee, latti ijjumaa ontutti teeti;

¹³ namoota kudhan keessaa tokko lafa san keessatti yoo hafelle, inni hin bada; ammoo akkuma qilxaan yennaa murame jirmi isaa lafa keessatti hafu, akkasuma sanyiin woyyootaalle lafa keessatti akka jirmaa te'anee hin hafan» jedhe.

7

Ergaa Mooticha Ahaaziif Dhutte

¹ Bara akaakoon Uziya'aa ilmi Yotaamii Ahaaz, Yihudaa irratti mootii te'e, mootiin Sooriya'aa Resiinii fi mootiin Israa'elii ilmi Remaaliya'aa Pheqaan, Yerusaalem loliisaaf itti duulane; ammoo isii injifatiisa hin dandeenne.

² Worri Sooriya'aatii fi worri Efreemii akka wolii galane, mootiin Yihuda'aa Ahaaz yennaa dhage'e, akkuma muki badda'aa qilleensaan raafamu, gadhaan isaatii fi gadhaan kolbaa isaa raafame.

³ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Isaayaasiin, «Atii fi ilmi keeti She'aariyaashub*», Ahaaziin wol dhaggiisaaf, gara dhuma anguree† gatiitti‡ ka karaa fichaa namicha woyaa dhiquu geessu dhaqiitii,

⁴ isaan, «Ifi eeggadhu; cadhisi; hin sodaatin. Aarii Resiiniitiin, aarii Sooriya'aatii fi aarii ilma Remaaliya'aa ta akka jirma lamaan ibidda irraa hafanee aaranuutiin, gadhaan keeti hin sheephisin» jedhiin.

⁵ Worri Sooriya'aa, worri Efreemiitii fi ilmi Remaaliya'aa si balleessiisaaf mala dhowanee,

⁶ «Kowa'a, biyya Yihuda'aa qabannee bittinneessinee qoodanna. Ilma Xaabe'eliille irratti mootii goona» jedhan.

⁷ «Ani Goottaan, Mootiin Waan Maraa ammoo, «Malli isaanii kun hin te'u; hin muummowulle'e.

⁸ Mataan Sooriya'aa Damaasqoo, mataan Damaasqo'oo Resiin waan te'eef, woggoota jaatamii shan keessatti Israa'el bittinnoottee, kolbaa biyya tokkoo te'iis isi'ii hin hafa.

⁹ Mataan Israa'elii Samaariya'a; mataan Samaariya'aalle ilma Remaaliya'aa ti.

«Addi'in yoo hin jabaatin, ijjumaa dhaabbatiisa hin dandeettanu» jedha» jedhe.

Beessisa Marroo Amaanu'elii

¹⁰ Ammalle Mootiin Waan Maraa Ahaaziin,

¹¹ «Qilee qile'een jalaatii yookiin gubbaa ol-gubba'aatii beessisa akka si'iif kennu ana Mootii Waan Maraa Waaqa keeti gaafadhu» jedhe.

¹² Ahaaz ammoo deebisee, «Ani hin gaafadhu; Mootii Waan Maraa haga hin ilaalu» jedhe.

¹³ Achiin duuba Isaayaas, «Ee sanyii Daawitii, dhage'a'a! Ossa namaa haga ilaaliis isin hanqatee, Mootii Waan Maraa kiyyalle haga ilaaltanii?

¹⁴ Tanaaf Mootiin Waan Maraa ifiifuu beessisa isiniif hin kenna; kunoo, durri duudduun ulfoottee, ilma hin deetti; maqaa isaalle, «Amaanu'el§» jettee hin waanti.

¹⁵ Inni waan hantuu jibbiisa, waan dansaa filatiisa yennaa beeketti, dhadha'aa fi damma hin nyaata.

¹⁶ Mucaan kun waan hantuu jibbiisa, waan dansaa filatiisa adoo hin beekiniin dura, latti mootota lamaan ati sodaattuu hin onti.

¹⁷ «Mootii Asoorii si irratti kakkaasiisaan, guyyaa Israa'el Yihudaa irraa gargar baateen jalqabee, bara rakkinnaa ka te'ee hin beenne, Mootiin Waan Maraa si irratti, kolbaa teetii fi sanyii abbootii teeti ta durii irratti hin fida.

¹⁸ «Guyyaa san Mootiin Waan Maraa laga Gibxi'ii ka fago'oo irraa tiiticha, lafa Asoorii irraa kinniisa siiqu'uun sitti hin waama.

* 7:3 She'aariyaashub: Afaan Ibrootaatiin worri hafe hin deebi'a jechu'u. † 7:3 Anguree: Angureen karaa bisaan hidha qabame keessa yaa'u. ‡ 7:3 Gatiitti'ii: Gara olii jedhamuulle hin dande'a. § 7:14 Amaanu'el: Afaan Ibrootaatiin Waaqi nu woliin jira jechu'u.

¹⁹ Isaan marti dhufanee dhooqa lafaa keessa, baqaqa rassa'aa keessa, haxanxarii qore'ee mara irraa fi addee boolla bisaanii maratti hin qubatan.

²⁰ «Guyyaa san Mootiin Waan Maraa, haaduu laga Efraaxiisiitiin gamaa kireeffate, mootii Asooriitiin, rifeensa keessan ka mata'aatii fi ka nafaa, areeda keessanille hin haada.

²¹ «Guyyaa san nami tokko goronsa tokkoo fi hoolee lama qofa hin qabaata;

²² isaan waan mirganuuf, inni dhadhaa hin nyaata. Worri lafa sanitti hafu marti dhadha'aa fi damma hin nyaatan.

²³ «Guyyaa san addeen muki woyni'ii kum jiru, ta gatiin isi'iille meetii kuma geettu qumi'uudu'uu fi qore'een guutanti.

²⁴ Latti sun qore'ee fi qumi'uudu'uun waan guutantuuf, namooti guube'ee fi daaya qabatanee achi hin dhaqanu.

²⁵ Qumi'uudu'uu fi qoree sodaatiisaan gara Koobota dur qotto'oon qotan-tuu haganaa achi hin dhaqanu; kooboti sun addee loonii tikatanuu fi addee hooleen burraaxxu hin teeti» jedhe.

8

Ilmi Isaayaasii Kolba'aaf Beessisa Te'iisa

¹ Mootiin Waan Maraa anaan, «Gabatee guddaa tokko fuudhiitii isa irratti qubee mudhattuun, «Dafii booji'i! Ariifadhuu saami!» jedhii barreessi» jedhe.

² Anille dhugaa baatota addatamane lama, hayyicha Uriiya'aa fi ilma Yebarekiya'aa Zakaariyaas waammadhe.

³ Achiin duuba ani gara raagitti'ii dhage; isiille ulfoottee ilma deette; Mootiin Waan Maraa anaan, « «Dafii booji'i! Ariifadhuu saami!» jedhii maqaa baasi.

⁴ Mucaan, «Abbayyoo» yookiin, «Aayyoo» jedhiisa adoo hin baratin, qabeenni Damaasqootii fi boojuun Samaariya'aa mootii Asooriitiin hin fudhatanti» jedhe.

Dhufa Mooticha Asoorii

⁵ Mootiin Waan Maraa ammalle natti dubbatee,

⁶ «Kolbaan tun bisaan Silo'aamii ka suuta yaa'u tuffattee, Resiinii fi ilma Remaaliya'aatitti guddoo gammaddeerti;

⁷ tanaaf ani Mootiin Waan Maraa, mooticha Asoorii ka akka lolaa bisaanii jaba'aa fi hunnaamessaa isaan irratti hin fida; inni akka bisaan laga guuttee danbala'ee lafa irra yaa'uu hin te'a.

⁸ Bisaan sun gara biyya Yihuda'aa yaa'ee, haga morma gewutti guutee, keessa hin dabara; Ee Amaanu'el*, akkuma lukkuun cuucuu ifiititti kabbitu, koalli keeti lafa teeti duudii hin golla» jedhe.

⁹ Isin gosi biyya adda addaa iyya lolaa kaasa'a; ammoo bututa'a; isin worri fagoo jirtanu duudiin dhage'a'a; lolaaf qophowa'a; ammoo bututa'a; lolaaf qophowa'a; ammoo bututa'a.

¹⁰ Mari'adha'a; ammoo isiniif hin teetu; karooralle baafadha'a; te'uu malee Waaqi waan nu woliin jiruuf, isiniif hin muummottu.

Mootiin Waan Maraa Raagicha Ifi Eggachisiise

¹¹ Mootiin Waan Maraa harka ifii jaba'aan na qabee, natti dubbatee, karaa kolbaan tun ideentu akka ani hin deenne na ifi eeggachiisee,

* **8:8** Amaanu'el: Afaan Ibrootaatiin, Waaqi nu woliin jira jechu'u.

¹² «Waan kolbaan tun, «Mala hammeennaa ti» jettu, isinille, «Mala hammeennaa ti» hin jedhina'a; waan isaan sodaatanu, hin sodaatina'a; wonni isaan naasisulle isin hin naasisin.

¹³ Ani Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade callaan, woyyicha akka te'e qaabadha'a; na callaa sodaadha'a; ana malee womaa isin hin naasisin.

¹⁴ Achiin ani galma woyyicha hin te'a; mootummaa Israa'eliitii fi mootummaa Yihuda'aatiif ammoo, dhakaa nama gufachiisuu fi rassaa nama jissu hin te'a; worra Yerusaalem keessa le'ulle'eef fonxoro'oo fi tiyyoo hin te'a.

¹⁵ Isaan keessaa worri hedduun gufatee, jigee hin bututa; isaan fonxoroo seenanee hin qabaman» jedhe.

¹⁶ Dhugaa baya tana eegi; gadhaa barattoota tiyyaa keessatti maxxansi.

¹⁷ Mootii Waan Maraa ka maatii Yaaqoobii duraa fuula ifii dhoffate, isa hin eegadha; addiille hin godhadha.

¹⁸ Kunoo, anii fi ijoolleen tiyya ta Mootiin Waan Maraa naaf kenne, kolbaa Israa'eliitiif, beessisaa fi baasa Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadee ka gaara Xiyoonii irra le'uu ti.

¹⁹ Yennaa isaan, «Worra ekeraa dubbisuu fi worra moru ka hasaasuu fi gungumu gaafadha'a» isiniin jedhane, ani ammoo isiniin, «Kolbaan sun Waaqa gaafatiisa lakkittee, marroo worra jiruu worra du'e maaf gaafatti?» jedha.

²⁰ Worra akka seera kanaatii fi akka dhugaa baya kanaatitti hin dubbanneef latti hin bariitu.

Yennaa Rakko'oo

²¹ Kolbaan rakkatee, beelottee lafa irra hin joonjiti; isaan yennaa beelaan gaggabane, aaranee, ol ilaalaa mootii ifiitii fi waaqota ifii hin abaaran.

²² Achiin duuba gara lafaa yennaa ilaalanu rakkoo, dukkanaa fi dimimisa sodaachittu qofa dhaggan; isaan dukkana dimma san keessalle'etti hin gataman.

9

Mooticha Nageyaa Ka Dhufu'uu Jiru

¹ Worri guddoo rakkataa ture hagonaa achi, dukkana dimimmisa keessa hin le'u.

Bara durii inni lafa Zabilooniitii fi Niftaalemii salphise; bara hegerii ammoo inni lafa laga Yordaanosiin gamaa, ta karaa abbaaya'aa biraa, Galiilaa worra Yihudoota hin te'iniitiif ulfinna hin kenna.

² Kolbaan dukkana keessa leete,
ifa guddaa dhaggite;
worra lafa gaaddisa du'aa keessa le'eefille
ifi baye.

³ Waaqa, ati gosa baceessiteerta;
gammada isaaniille itti edeeteerta;
namooti yennaa midhaan galfatanu,
boojuulle yennaa qoodamanu akkuma gammadanu,
isaan si duratti hin gammadan.

⁴ Akkuma bara worri Miidiyaanii injifatame goote,
waanjoos isaanitti ulfaate,
ciiraa gurmoo isaanii irraa,
ulee worra isaan cunqursuulle caccassiteerta.

⁵ Kopheen loltooti yennaa lolaa keyatanu marti,
woyaan dhiiga keessa gangalfante martinuu
akka qoraanii ibiddaan hin gabbatti.

- ⁶ Annuun nuuf dhalateera;
 ilmi nuuf kennameera;
 Baalliin gurmuu isaa irra hin jiraatti;
 maqaan isaa, «Gorsaa maade'ee,
 Waqa hunnaamessa,
 abbaa bara baraa,
 qondaala nageyaa» hin jedhama.
- ⁷ Baalliin isaatii fi
 nageenni isaa dhuma hin qabanu;
 inni barcumaa mootummaa Daawitii irra tee'ee,
 mootummaa isaa hin bulcha;
 haqaa fi balchummaa'aan dhaabee,
 ammaan jalqabee haga bara baraatitti
 isii hin jabeessa;
 hinaaffaan Mootii Waan Maraa
 Ka Waan Mara Dadee, tana hin gooti.

Mootiin Waan Maraa Kolbaa Israa'elii Hin Adaba

- ⁸ Mootiin Waan Maraa jecha mura'aa Yaaqoobitti erge; kunille sanyii isaa kolbaa Israa'elii irratti muummowe.
- ⁹ Worri Efreemiitii fi
 worri qachaa Samaariya'aa keessa le'u,
 kolbaan marti tana hin beekan;
 isaan kooriisaa fi bondhooriisaan,
- ¹⁰ «Dalleenni faara loobameen ijaarame jige;
 nuuti ammoo
 dhakaa bocameen deebinne hin ijaarra.
- Muki harru'uu murameera;
 nuuti ammoo addee muka harru'uu
 muka hindheensaa hin buunna» jedhan.
- ¹¹ Mootiin Waan Maraa ammoo
 nyaapha Resiinii isaan irratti kaase;
 diinota isaaniille isaan irratti kakkaase.
- ¹² Worri Sooriya'aa karaa aduun baatuun, worri Filisxeemotaa karaa aduun seentuun dhufanee, afaan bananee Israa'el kukkutatanee; tun marti teetulle inni aarii ifii hin caffanne; harki isaa akkuma ol fudhatametti jira.
- ¹³ Kolbaan ammoo gara Mootii Waan Maraa ka isaan adabee hin deebine; yookiin Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dade hin barbaadanne.
- ¹⁴ Tanaaf Mootiin Waan Maraa worra akka mata'aatii fi eege'ee, worra akka damee muka meexxi'iitii fi allaadu'uu guyyaa tokkotti Israa'el keessaa hin balleessa;
- ¹⁵ mataan sun jaarsole'ee fi worra ulfinna qabu; eegeen raagota soba nama barsiisanu.
- ¹⁶ Worri kolbaa tana soressu isaan dokonkorseera; worri isaaniin sooref-famulle karaa irraa joonjayeera.
- ¹⁷ Isaan marti worra Waqa malee le'uu fi waan hantuu huju; marti isaaniituu waan hantuu dubbatan; tanaaf Mootiin Waan Maraa dargaggoota isaaniititti hin gammadu; ijoollee haadhaa fi abbaa hin qanneef, haadhotii hiyyeessotaatiifille hin mararu; tun marti teetulle inni aarii ifii hin caffanne; harki isaa akkuma ol fudhatametti jira.
- ¹⁸ Hammeenni kolba'aa akka ibidda qumi'uudu'uu fi qoree gubuu ti; gongomaa ciggaa qabatee, aarii isaa akka utuba'aa dhaabbata.

¹⁹ Aarii Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadeetiin latti hin gubatti; kolbaalle akka qoraan ibiddaa hin teeti; obboleessa ifii ka baasuu dande'u tokkolle hin jiru.

²⁰ Harka middichaan hin kukkutatan; ammoo beeluma qaban; harka bitaachaan hin nyaatan; ammoo hin quufanu; tokko tokkoon isaanii foon ijoollee ifii hin nyaatan.

²¹ Kolbaan Minaase'ee kolbaa Efreemii nyaatti; kolbaan Efreemiille kolbaa Minaase'ee nyaatti; isaan lamaanuu gosa Yihuda'aa irratti hin ka'an; tun marti teetulle inni aarii ifii hin caffanne; harki isaa akkuma ol fudhatametti jira.

10

¹ Worra seera haqa hin te'in, sirna nama cunqursu baasuuf aanne'e!

² Worra mirga hiyyeeyyi'ii dhiibuuf, kolbaa tiyya ta cunqurfante worra haqa dhoogguuf, karra haadha hiyyeessaa worra saamuuf, ijoollee abba'aa fi haadha hin qanne worra saamuuf aanne'e!

³ Guyyaa adabbi'ii, balaan fagoo irraa yennaa isinitti dhufu maan gootan? Qarqaarsa dhaggatiisaaf gara eennuu baqattan? Karra teessanille eessa dhoffatan?

⁴ Worra booji'ame odduu, yookiin ka ijjeefame jalatti gatamiisa malee, womaa isiniif hin hafu; tun marti teetulle inni aarii ifii hin qabbaneeffanne*; harki isaa akkuma ol fudhatametti jira.

Waaqi Worra Asoorii Hin Adaba

⁵ Waaqi, «Uleen aarii tiyyaatii fi ciiraan mufii tiyyaa, ka harka jiru, mootii Asooriitiif aanne'e!

⁶ Ani akka inni isaan saamu, akka isaan booji'u, akka dhoqqee karaa keessaa akka inni isaan dhidhiitu, biyya Waaqa malee leetu, ta aariin tiyya irra jirtutti isa hin erga.

⁷ «Mootiin Asoorii ammoo tana hin yaadanne; tun waan inni qalbii ifii keessaa qabuu moti; te'uu malee, inni balleessiisaaf, gosa biyya adda addaa hedduu fixiisaaf karoorfate.

⁸ Inni, «Ajajjooti loltoota tiyyaa marti moototaa motii ree?

⁹ Qachaan Kaalno'oo akkuma qachaa Karkemiishii, qachaan Haamaatii akkuma qachaa Arphaadii, qachaan Samaariya'aa akkuma qachaa Damaasqootii motii ree?

¹⁰ Ani mootummoota waaqoti dharaa keessa guutane, mootummoota fakkii Yersaalemiitii fi Samaariyaa caalanu akkuma qabadhe,

¹¹ qachaa Samaariya'aatii fi waaqota dharaa isi'ii akkuma godhe, Yersaalemii fi waaqota dharaa isi'iille akkasuma hin godhuu ree?» jedha» jedhe.

¹² Mootiin Waan Maraa gaara Xiyooniitii fi Yersaalem irratti, hujii ifii hujee yennaa fixe, «Mootichi Asoorii waan kooree ifi ol qabeef, ani isa hin adaba» hin jedha.

¹³ Mootiin Asoorii, «Ani nama hubataa waan te'eef, irree tiyya jaddu'uu fi qarummaa tiyyaan tana mara godhe; meessaa gosa biyya adda addaa diigee, qabeenna isaaniille saamee, mootota isaanii hunna tiyyaan gad buuse.

¹⁴ «Akkama harka ifii mana simbirre'ee keessa keyee, quuphaa isi'ii wolitti qabuu, ani harka kiyya diriirsee, karra gosa biyya adda addaa wolitti qabe; isaan keessaa tokkolle haguma sinbirreen koola ifii tachoottuu ka tacho'e hin jiru; haguma afaan simbirre'eelle ka iyye hin jiru» hin jedha.

* **10:4** *Hin qabbaneeffanne: Yookiin hin caffanne*

¹⁵ Agaraan nama isumaan muka muru irratti hin bondhooraa ree? Mag-aaziin nama isumaan muka baqassu irratti ifi hin jajjii ree? Tun adoo teetu teete, akka waan uleen abbicha isii qabatu san mirmirsituu ti; yookiin akka ciiraan abbicha isa qabatuun ani mukaa moti jedhuu ti.

¹⁶ Tanaaf Mootiin Waan Maraa, Gootaan Waan Mara Dande'u, loltoota ifii worra Asoorii gagabboo irratti dhukkuba huggisu hin erga; ulfinna isaa guddaa jalalle'ee, holotaan akka bobbe'a ibidda bobbe'uu hin gabbata.

¹⁷ Ifi Israa'elii Waaqi, akka ibiddaa, Waaqi woyyichi Israa'elii akka bobbe'a ibiddaa hin te'a; inni guyyaa tokko keessatti qore'ee fi qumi'uuduu gubee hin fixa.

¹⁸ Akkuma nami dhibamaan huggatee du'u, gongomaan isaatii fi fichaan laafaan isaa ijjumaa hin badan.

¹⁹ Muki gongomaa isaa keessatti hafu guddoo diqqaa hin te'a; mucaan diqqaanuu laakkowee fixuu hin dande'a.

Israa'eloota Baraaree Hafane

²⁰ Guyyaa san worri Israa'elii keessaa baraaree hafane, worri mana Yaaqoobii keessaa lubbu'uun hafanelle, dhugumaan Mootii Waan Maraa woyyicha Israa'eliititti irkatan malee, deebi'anee ka isaan injifatetti hin irkatanu.

²¹ Sanyii Yaaqoobii keessaa worri baraaree hafe, gara Waaqa hunnaames-saa hin deebi'an.

²² Ee Israa'el! Kolbaan teeti akka maansa abbaaya'aa yoo teetelle, isaan keessaa baraaree qofattuu deebi'a; badiin murteeffanteerti; muraan Waaqaa ta haqaa irraan hin dhangalaati.

²³ Mootiin Waan Maraa, Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dande'u, badii murteeffante san lafa duudii irratti hin fida.

Mootiin Waan Maraa Asoor Hin adaba

²⁴ Tanaaf Gootaan, Mootiin Waan Maraa, Ka Waan Mara Dande'u, «Ee kolbaa tiyya, ta Xiyyoon keessa leetanu, akkuma worri Gibxi'ii dur isin godhe, worra Asoorii ka ule'een isin tumuu fi ciiraa isinitti fudhatu hin sodaatina'a.

²⁵ Aariin ani isinitti aare, yennaa diqqoon duuba hin dhaabbatti; aariin tiyya isaan balleessiisaaf, isaanitti garagalti.

²⁶ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, rassaa Horeeb biratti worra Miidiyaanii akkuma dhaane, liche'een isaan hin dhaana; inni Gibxii keessatti akkuma godhe, ulee ifi bisaan irratti ol hin fudhata.

²⁷ Guyyaa san ba'aan isaanii gurmoo teessan irraa hin kaati; waanjoon isaanille morma keessan irraa hin ka'a; isin waan furdattaneef, waanjoon hin caba» jedha.

Balaa Worri Asoorii Buuse

²⁸ Loltooti Asoorii gara qachaa Aayii hin dhufan; Miigroon keessa dabaraanee meya ifii Miikmaashi keessatti hin tuulatan.

²⁹ Karaa irra dabaranelle Gebaa geyanee achi hin bulan; worri qachaa Raama'aa nayanee hin hollatan; worri qachaa Saa'olii ka Giibe'aa keessa le'u hin baqatan.

³⁰ Ee kolbaa Galiim, iyya'a! Ee worra Laa'iishii, dhagge'a'a! Ee worra Anaatotii, jalaa qaba'a!

³¹ Worri Madmaanaatii baqatiisatti jira; worri Gebiimiille dhokatiisaaf hin baqatan.

³² Loltooti guyyaa adhaa qachaa Nobii hin geyan; isaan gaara kolbaa Xiyyooniititti, kooba Yersaalemiititti irree ifi hin raasan.

³³ Kunoo, Goottaan, Mootiin Waan Maraa, Ka Waan Mara Dande'u, hunna ifii guddo'oon, dameelee hin caccassa; muki dhedheeraan hin murama; ka caalaa dheeratulle gad hin qabama.

³⁴ Inni gongomaa ciggaa agara'aan hin mura; muki Libaanonii gugurdaan hunnaamessa duratti hin jigan.

11

Mootummaa Nageyaa

- ¹ Akkuma jirmi quunxee damee baasu,
sanyii Iseyii keessaa mootiin haarenni hin ka'a.
- ² Ayyaanni Mootii Waan Maraa
Ayyaanni qarumma'aatii fi hubanti'ii
Ayyaanni gorsaatii fi hunnaa
Ayyaanni beekkumsaatii fi
Mootii Waan Maraa sodaatiisaa
isa irratti hin bu'a.
- ³ Inni Mootii Waan Maraa sodaatiisaan
hin gammada.
Akkuma ilaan dhagge hin muru;
yookiin akkuma gurraan dhage'e hin murteessu;
- ⁴ worra hiyyeeyyi'iif ammoo
balchumma'aan hin mura;
worra deega'aaf haqaan hin mura;
dubbii afaan isaa keessaa baatu
ta akka ule'eetiin biyya lafaa hin dhowa;
hafuura afaan isaa keessaa bayulle'een
worra hamoolee hin ijjeesa.
- ⁵ Balchumma'aa fi addatamummaan
akka hiituu hidha isaa ti.
- ⁶ Yayyiin ilmayyoo hoole'ee waliin hin leeti;
geeransi ilmayyoo re'e'ee waliin hin ciisa.
Jabbiin, ilmoolee neenqaatii fi
korommii dardarri waliin hin tikatan;
mucaan diqqaalle isaan hin tissa.
- ⁷ Loonii fi doobbaan waliin hin tikatan;
jabbi'ii fi ilmooleen doobba'aa waliin hin ciisan;
neenqille akka qotiyyo'oo hicaacee hin nyaata.
- ⁸ Mucaan harma hodhu
boolla dhudhuufa'aa bira hin taphata;
mucaan harma irraa gu'elle
boolla buuti'ii keessa harka hin keya.
- ⁹ Akkuma abbaayaan bisaaniin guutantu,
latti beekkumsa Mootii Waan Maraatiin
waan guutantuuf,
waan gaara woyyicha kiyya irra le'u
miidhaan yookiin badiin hin dhaqqaddu.

Kolbaan Booji'ante Hin Deebiti

- ¹⁰ Guyyaa san sanyiin Iseyii akka beessisaa kolba'aaf hin dhaabbatti; gosi biyya adda addaa isa hin barbaaddi; addeen inni le'ulle ulfinna hin qabaatti.
- ¹¹ Guyyaa san Goottaan yennaa lammeesso'oo harka ifii diriirsee, kolbaa ifii ta biyya Asooriititti, biyya Gibxi'iititti, biyya Faaxrosiititti, biyya

Itoophiya'aatitti*, biyya Elaamiititti, biyya Shiinaariititti, biyya Haamaatiititti, lafa abbaayaa qarqaraatitti baraaree hafane gara biyya isaanii hin deebisa.

¹² Inni gosa biyya adda addaatiif beessisa hin dhaaba; worra Israa'el keessaa ari'amee baye, worra Yihudaa keessaa bittinnowelle maddii afuriinuu wolitti hin qaba.

¹³ Hinaaffaan Efreemii hin baddi; diinni Yihuda'aalle hin dhumata; Efreem Yihudaa hin hinaafu; Yihudaalle Efreem hin jibbu.

¹⁴ Isaan lamaanuu wolii galanee gara aduun seentuun Filisxeemota irratti hin ka'an; worra gara aduun baatu le'ulle hin saaman; kolbaa Edoomiitii fi Mo'aabii harkatti hin galfatan; worri Amooniille isaaniif hin ajajaman.

¹⁵ Mootiin Waan Maraa abbaayaa diintuu Gibxi'ii ijumaa hin gossa; inni harka ifii laga Efraaxiisii irratti ol kaasee, qilleensa gubuun dhowee, laga didiqqaa torbatti gargar hin qooda; nami kophe'een keessa deemee, gamatti bu'uu hin dande'a.

¹⁶ Akkuma kolbaan Israa'elii biyya Gibxi'ii keessaa yennaa baate karaan qopheeffameef, kolbaa isaa worra baraaree hafeefille, Asoorii keessaa bayi-isaaf karaan guddaan hin qopheeffama.

12

Faaruu Leellisaa

- ¹ Guyyaa san ati,
«Ee, Mootii Waan Maraa,
ati natti mufatteertaayyu;
amma mufii teeti na irraa deebittee,
waan na jajjabeessiteef si leellifadha!
- ² Dhuguma Waaqi fayyisaa kiyya;
ani isatti hin addadha;
womaalle hin sodaadhu.
Mootiin Waan Maraa hunnaa fi jabeenna kiyya;
inni fayyisaa kiyya naaf te'eera.
- ³ Isin gammadaan madda fayyinnaa keessaa
bisaan hin woraabbattan» hin jetta.
- ⁴ Yennaa san isin,
«Mootii Waan Maraa galateeffadha'a;
maqaa isaalle waammadha'a!
Gosa biyya adda addaa keessatti
hujii isaa beessisa'a;
guddinna maqaa isaalle lallaba'a.
- ⁵ Inni waan guddoo waan godheef
faaru'uun isa leellisaa'a;
waan inni godhelle
biyya lafaa mara irratti beessisa'a.
- ⁶ Ee kolbaa Xiyoonii,
Waaqi guddaan wooyichi Israa'elii,
odduu teessan waan jiruuf,
ilillisaa gammadaan faarsa'a» hin jettan.

13

Waaqi Baabilon Hin Adaba

- ¹ Ergaan ilmi Amosii Isaayaas marroo Baabiloniitiif dhagge asii gad jirti;

* **11:11** Itoophiyaa: Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali.

² Kooba womaa irratti hin lanne irratti beessisa dhaaba'a! Loltoota iyya'aa waama'aatii, karra qondaaltotaatiin akka seenanu, harkaan itti akeeka'a.

³ Ani worra injifatiisa kiyyatti gammadu, woyyoota tiyya ajajeera; akka aarii tiyya muummessanu loltoota tiyya waameera.

⁴ Hogaa gaara irraa, ka akka kolbaa bindilla'aa caqasa'a! Caanca odduu mootumma'aa, ta akka gosa biyya adda addaa ta wolitti qabantee caqasa'a! Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, lolaaf loltoota ifii wolitti qabatisatti jira.

⁵ Isaan lafa fago'ootii fi qaccee biyya lafaatii hin dhufan; Mootiin Waan Maraa meya mufii ifii kanaan lafa duudii hin balleessa.

⁶ Guyyaan Mootii Waan Maraa waan dhikaateef, wiiccifadha'aatii bowa'a; Ka Waan Mara Dande'u biraa badiin hin dhutti.

⁷ Tanaaf harki nama maraa hin laashowa; gadhaan nama maraalle akka gaga'aa soda'aan hin sheephisa.

⁸ Isaan hin bararaqan; gaargallii fi muddam isaan hin dhaqqaba; akka dubartii ciniinsifattuu hin ciniinsifatan; isaan soda'aan wol ilaalan; fuulli isaaniille akka bob'e'a ibiddaa hin diimata.

⁹ Kunoo, guyyaan Mootii Waan Maraa gadhi-jabeessa; guyyaan sun lafa onsiisaaf, cubbaalleyyiille lafa irraa balleessiisaaf, mufi'ii fi aarii bobeeettuun hin dhufa.

¹⁰ Urjooti ol-gubba'aatii fi tuuti isaanii hin ifanu; aduun bayiisatti jirtulle hin dukkanootti; ji'ille hin ifu.

¹¹ Mootiin Waan Maraa, «Ani biyya lafaa hammeenna isi'iitiif, worra hamoolee cubbuu isaaniitiif hin adaba; koora worra ifi saaduu hin balleessa; ifi jajiisa worra bondhooruu gad hin qaba.

¹² Nami worqii qullu'uu fi worqii Ofirii caalaa kaso'otti akka hin dhag-ganne godha.

¹³ Tanaaf ani Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade guyyaa mufii tiyyaatii fi aarii tiyya ta bobeeettuu ol-gubbaa hin raasa; lattille addee ifii irraa akka tachootu hin godha.

¹⁴ «Akka buddannee nami ari'uutii fi akka hoolee tisee hin qannee, nami marti gara kolbaa ifii hin deebi'a; gara lafa ifiille hin baqata.

¹⁵ Ka booji'ame marti hin woraanama; ka qabame marti shallaaga'aan hin ijjeefama.

¹⁶ Daa'immaan isaanii ila isaanii duratti hin hohoocaman; manni isaanii hin saamama; dubartii isaaniille hunnaan woliin hin rafa.

¹⁷ «Kunoo, ani worra Medoonii ka meetii tuffatu, ka worqiille'etti hin gammanne isaanitti hin kakkaasa.

¹⁸ Guubeen isaanii dargaggoota isaanii hin ijeetti; daa'immaaniif hin mararanu; ijoolle'eefille hin nayanu.

¹⁹ Baabilonii dooqa mootummootaa, ulfinnaa fi koora worra Baabilonii ta teete, ani Mootiin Waan Maraa akkuma Sodoonii fi Gomora'aa hin balleessa.

²⁰ Dhalootaa haga dhalootaatitti nami achi keessa ijumaa hin qubatu yookiin hin le'u; nami biyya Arabaa achi keessatti dunkaanii hin dhaabbatu; tissitootille hoolee ifii achi keessa hin tiffattu.

²¹ Bineensoti ammoo achi keessa hin ciisan; mandhee isaanii keessa jeedalti hin guutti; urunguulle achi keessa hin leeti; godaalle* achi keessa hin burraaqa.

²² Mana worra jajjabaa keessaa yayyiin hin dutti; mana mootumma'aa ka Baabilonii dadansaa keessaa jeedalti hin iyyiti; yennaan Baabilonii geeteerti; guyyaan isi'iille dhikaateera» jedha.

* **13:21 Godaa:** Godaan kun bineensa re'ee fakkaatu.

14

Kolbaan Israa'elii Boojuu Irraa Hin Deebiti

¹ Mootiin Waan Maraa sanyii Yaaqoobiitiif hin marara; ammalle Israa'eloota filee lafa isaanii keessa akka le'anuu hin godha; worri ormaa dhufee, Israa'eloota waliin le'anee, sanyii Yaaqoobii waliin tokko hin te'an.

² Gosi biyya adda addaa Israa'eloota fuutee, addee isaaniititti hin deebitti; kolbaan Israa'elii lafa Mootii Waan Maraa keessatti gosa biyya adda addaa san garbichaa fi garbittii hin godhatan; isaan worra dur isaan booji'e hin booji'an; worra dur isaan cunqurselle hin bulchan.

Mootiin Baabilonii Hin Jiga

³ Yennaa Mootiin Waan Maraa farra keessaa, rakko'oo fi garbummaa keessaa baasee, isin foorfachiisu,

⁴ Isin mootii Baabilonii irratti murgaa, «Mootiin nu cunqursaa ture attam attam jige! Aariin isaalle attam attam badde!

⁵ Mootiin Waan Maraa ulee worra hamoole'eetii fi bokkuu bulchitootaa caccaseera.

⁶ Mootiin Baabilonii adoo gargar hin kutin aari'iin kolbaa dhowee, gosa biyya addaalle marartii malee bulche.

⁷ Amma biyyi lafaa duudiin foora fi nageya dhaggatte; gammadaan ilillitte.

⁸ Hindheensii fi birbirsi Libaanoniituu gammadaan, «Eega ati jidde, nami nu muriisaaf dhufu hin jiru» hin jedhan.

⁹ «Yennaa ati gara addee worri du'e jiru gad buutu, addeen worri du'e jiru sun qirqirtee si fudhatti; ekeraa worra du'eetii fi soressitoota biyya lafaa ta dur duute dammassite; mootota gosa biyya adda addaa ta dur duute duudiille, barcumaa mootummaa isaanii irraa nageya akka si fuudhanu ol kakaatte.

¹⁰ Isaan martinuu deebisane, si'iin, «Atille akkuma keenna dadhaddeerta! Akkuma keenna teeteerta!

¹¹ Koorri keeti qoonqoo kiraara keeti guddichaa waliin gara addee worri du'e jiruu gad bu'eera; qu'een afinaa keeti; corroxxi uffana keeti» hin jedhan» hin jettan.

¹² Ee, bakkalcha bari'ii, ilma ganamaa, attam attam ol-gubbaa irraa gad buute! Ati ka mootota gosa biyya adda addaa gad qadde, amma attam attam lafatti gad gatante!

¹³ Ati gadhaa keeti keessatti, «Ani gara ol-gubba'aa hin baya; barcumaa mootummaa kiyyaalle urjoota Waaqaatiin gubba'aatti hin godhadha; barcumaa mootumma'aa kiyya ka gaara yaa'ii waaqotaa, gara kaabaa qaccee irra jiru irra hin tee'a.

¹⁴ Qaccee duumensaa gubba'atti hin baya; Ol-Aanaa ifi hin godha» jetteertaayyu.

¹⁵ Ammoo gara addee worri du'e jiruu, qilee boollaa keessa gad buuteerta.

¹⁶ Worri du'e si dhagge baaseffatee, «Kun namicha lafa tachoossee, mootota raase,

¹⁷ ka biyya lafaa goomolee godhee, qachoota isi'ii diige, worra booji'e gara biyya ifii akka hin galle ka dhooggee motii?» si'iin hin jedhan.

¹⁸ Moototi gosa biyya adda addaa marti du'anee, tokko tokkoo isaanii addee awwaala ifiititti ulfinnaan awwaalaman eeran.

¹⁹ Ati ammoo akka damee jibbatantee, addee awwaalaa keessaa baafantee gatanteerta; reeffi keeti reeffa worra shallaaga'aan woraanamee ijjeefameen, boolla dhaka'aa keessatti gollameera; ati akka reeffa miilaan dhidhiitamuu ti.

²⁰ Ati lafa teeti balleessitee, kolbaa teeti waan ijjeetteef, isaan woliin hin awwaalantu; sanyii worra hantuu hujjuu, maqaan ijjumaa deebi'ee hin waamamu.

²¹ Isaan ka'anee lafa dhaalanee, qachaa ifitiin lafa akka hin guunne, sababa yakkaa abbootii isaaniitiif ilmaan isaanii fixiisaaf addee isaaniif qopheessa'a.

Waaqi Worra Baabilonii Hin Balleessa

²² Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Ani isaan irratti hin ka'a; maqaa Baabiloniitii fi kolbaa isi'ii, ilmaan isi'iitii fi sanyii isi'ii hin balleessa.

²³ Baabilon mandhee dhaddo'ootii fi lafa Caffa'aa hin godha; haxowwi'iin haree isii hin balleessa. Ani Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade tana dubbadheera» jedha.

Waaqi Worra Asoorii Hin Balleessa

²⁴ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade kakatee, «Akka ani yaade hin teeti; akka ani murteesse hin muummotti.

²⁵ Ani worra Asoorii lafa tiyya keessatti hin butucha; gaara kiyya irralle'etti isaan irra hin sirba; waanjoon isaanii kolbaa tiyya irraa hin fuudhama; ba'aan isaaniille gurmoo kolbaa tiyyaa irraa hin buuti.

²⁶ Yaadi ani biyya lafaa duudi'iif yaade kana; harki gosa biyya adda addaa mara adabiisaaf diriirfadhe kana» jedhe.

²⁷ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade tana waan yaadeef, eentu isa dhoogga ree? Inni adabiisaaf harka ifi waan diriirseef, eentu duubatti deebisa ree?

Waaqi Worra Filisxeemotaa Hin Balleessa.

²⁸ Ergaan bara mootichi Ahaaz du'e himante tana:

²⁹ Ee kolbaa Filisxeemotaa, uleen isin dhootte waan caddeef guddoo hin gammadina'a. Sanyii bofaa keessaa buutiin hin dhalatti; ilmoolee isaa keessaa dhudhuufaan akka malee utaalu dhalata.

³⁰ Hiyyeeyyiin buuxxiyyeen waan nyaatanu hin dhaggatan; worri deegille yaaddoo malee hin le'an; sanyii teessan ammoo beelaan hin ijjeesa; worra hafanelle hin fixa.

³¹ Ee kolbaa karra keessa, wiiccifadha'a! Ee kolbaa qachaa keessaa, iyyi! Ee worra Filisxeemotaa, isin duudiin, sodaadha'aatii sheephisa'a! Loltooti isaa ta gara duubaa hin deebine, gara kaabaatiin waan dhufaneef, worri Filisxeemotaa duudiin soda'aan sheephisa'a.

³² Worra gosa san biraa ergamanee dhufanuuf deebii maan kennina? Nuuti isaaniin, «Mootiin Waan Maraa Xiyoon ijaareera; kolbaan rakkatte isii keessatti addee itti baqattu hin dhaggatti» hin jenna.

15

Ergaa Marroo Mo'aabii

¹ Ergaan marroo Mo'aabii ta asii gad jirtu;

Qachaan Aarii ka Mo'aab keessaa halkan tokkotti diigamee bade; qachaan Qiirii ka Mo'aab keessaalle halkan tokkotti diigamee bade.

² Kolbaan qachaa Diibonii bowiisaaf gara galma ifii gara addee waaqon-fanna'aa ol baati. Kolbaan Mo'aabii duudiin marroo qachaa Nebo'ootii fi Medeba'aa guddoo gadditee, mataa ifii haadattee areeda ifii murattee bootti.

³ Isaan woyaa gaddaa uffatanee karaa irra deeman; heellichoo mana ifii irratti, badhinnalle'etti bowaa imimmaan dhangalaasan.

⁴ Kolbaan qachaa Heshibooniitii fi Ele'aale hin iyyiti; qoonqoon iyya isaaniille haga qachaa Yaahasiiitti hin dhage'anti; tanaaf loltooti Mo'aabii hin iyyiti; gadhaan isi'iille soda'aan hin raafama.

⁵ Gadhaan kiyya qachaa Mo'aabiitiif hin bowa; kolbaan achi keessaa gara qachaa Zo'aariitii fi gara Eglaat-Shelshiiya'aatitti hin baqatti; isaan bowaa gara Luhii ol hin bayan; karaa Horonaayimii irralle'etti marroo badii isaaniitiif gaddaa hin iyyan.

⁶ Bisaan Niimriimii hin goga; marrille hin qoora; biqiltuun baddee wonni bisileen tokkolle hin jiraatu.

⁷ Tanaaf isaan karra horatanee fi waan wolitti qabatane ba'atanee laga olaati'iitiin gamatti hin buufatan.

⁸ Iyyi isaanii haga meessaa Mo'aabiititti hin dhage'anti; wiiccifatiisi isaanii haga qachaa Eglaayimii, gaddi isaaniille haga qachaa Be'er-Eliimii hin dhaqqaba.

⁹ Bisaan qachaa Diibonii dhiigaan hin guuta; ani Mootiin Waan Maraa rakkoo ta caaltu qachaa Diiboniititti hin fida; worra qachaa Mo'aabii keessaa baqatee bayuu fi worra achitti miliqee hafe neenqa itti hin erga.

16

Addii Dhabiiisa Mo'aabii

¹ Isin worri Mo'aabii qachaa Shela'aa irraa, karaa goomole'eetiin bulchaa lafaa ka gaara Xiyoonii irratti dhaggamuuf, buruusota hoole'ee erga'a.

² Ijoolleen durraa ta Mo'aabii malkaa Aarnonii irratti akka sinbirroota mana ifii irraa ari'antee, asii fi achi hin joonjan.

³ Worri Mo'aabii kolbaa Yihuda'aatiin, «Nutti gorsa'a; murtee nu'uuf kenna'a. Aduu saafowaa irraa gaaddisa nu'uuf te'a'a; nu worra isinitti baqatu dhossa'a; dabarsitaneelle nu hin kennina'a.

⁴ Nu worri biyya Mo'aabii keessaa baqanne, odduu teessan qubannuu ti; worra nu balleessu jalalle'ee nu dhossa'a» hin jedhan.

Worri nama cunqursu lafa irraa hin bada; badiin hin jiraattu; worri nama miidhu lafa irraa hin bada.

⁵ Achiin duuba jaalala bara baraatiin barcumaan mootumma'aa tokko hin dhaabama; sanyii Daawitii keessaa ka addatamu tokko, ka muraa dhuga'aa muruu fi ka waan sirrii te'elle dafee muummessu, irra hin tee'a.

⁶ Kolbaan Yihuda'aa, «Kooriisa kolbaa Mo'aabii, bondhooriisa, ifi jajiisaa fi tuffii isi'ii dhageenneerra; kooriisi isi'ii ammoo gatii hin qabu» hin jetti.

⁷ Tanaaf kolbaan Mo'aabii wiiccifattee hin bootti; isaan martinuu Mo'aabiif wiiccifatanee hin bowan; isaan sagalee dansaa qachaa Qir-Heresiitii yennaa qaabatane gaddanee hin bowan.

⁸ Fichaan qachaa Heshiboonii keessa jiru, muki woyni'ii Siibmaa keessalle qooreera; woynii dansaa ta haga qachaa Yaazeriitii, haga goomole'eetii fi haga abbaaya'aan gamaa geette, bulchitooti gosa biyya adda addaa irra sirbaneeran.

⁹ Tanaaf akkuma kolbaan qachaa Yaazerii muka woyni'ii Siibma'aatiif bootte, anille hin bowa. Ee, Heshiboon! Ee, Ele'aale! Midhaan muka keessaniitii fi midhaan keessan dhabannaan, ililleettiin yennaa midhaan galfattanuu waan hatteef, ani imimmaan dhangalaasee hin bowa.

¹⁰ Gammadaa fi ililleettiin fichaa midhaan baasu keessaa dhabante; fichaa woyni'ii keessatti ka geeluu fi ilillisu hin jiru; ani geleele waan balleessee, nami woynii cunfu addee woynii itti cunfanu hin jiru.

¹¹ Tanaaf gadhaan kiyya Mo'aabiif, keessi kiyyalle Qir-Heresiif, akka qoon-qoo kiraara guddichaa gaddaan gunguma.

¹² Kolbaan Mo'aabii gara addee waaqonfannaa ifii yoo ol baatelle, toluma elootti; daadimatiisaaf gara addee itti waaqonfattuu yennaa dhaxxulle, bu'aa hin qaddu.

¹³ Wonni kun waan Mootiin Waan Maraa dur marroo Mo'aabiitiif dubbate.

¹⁴ Amma ammoo Mootiin Waan Maraa, «Akka woggaa nama yenna'aaf qaxaramee hujuu, ulfinni Mo'aabiitii fi baceenni kolbaa isi'ii woggaa sad keessatti gad hin deebi'a; worri jiru'uun hafelle diqqa'aa fi dadhabaa hin te'a» jedha.

17

Ergaa Marroo Damaasqo'oo

¹ Ergaan marroo Damaasqo'oo ta asii gad jirtu;

Mootiin Waan Maraa, «Kunoo, qachaan Damaasqo'oo haganaa achi qachummaan isaa hafee, tuulaa waan bututee hin te'a.

² Qachooti Aro'erii hin onan; addee tika hori'ii hin te'an; nami horii san sodaachisu hin jiru.

³ Qachaan dalleya dhaka'aa Efreem keessaa, mootummaalle Damaasqoo keessaa hin baddi; worri Sooriyaa keessatti jiru'uun hafe, akkuma Israa'elootaa hin salphatan. Ani Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade tana dubbadheeraa.

⁴ «Guyyaa san, ulfinni Israa'elii gad hin deebi'a; gabbinni nafa isi'iille irraa hin dhumata;

⁵ akka fichaa midhaan irraa haamamee, akka dhooqa Refaa'iimii ta woxoo keessaa qocataneelle hin te'a.

⁶ Akka muka ejersaa ka yennaa hargufanu, qaccee isaa irratti midhaan lama yookiin sad, dameelee isaa irralle'etti midhaan afur yookiin shan hafuu hin te'a. Ani Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii tana dubbadheera» jedha.

⁷ Guyyaa san kolbaan gara ka isaan Dadee hin ilaalti; ila ifille gara Woyyicha Israa'elii hin deebifatti.

⁸ Isaan gara addee ciinca'aa ta harka ifitiin hujatane, gara utuboota waaqa dharaa ta, «Asheeraa» jedhantuutii fi gara addee hixaanaa ta harka ifitiin hujataneelle hin ilaalanu.

⁹ Akkuma qachooti Hiiwotaatii fi Amoorotaa, yennaa Israa'elooti qabatane te'ane, guyyaa san qachooti keessan ka dalleya dhaka'aa qabanulle ona hin te'an; hin diigamanille'e.

¹⁰ Isin Israa'el, Waaqa fayyisaa keessan deetaneertan; rassaa itti baqatanulle hin qaabanne; tanaaf biqiltuu dansa'aa fi biqiltuu biyya ormaa dhaabbatanulle,

¹¹ guyyuma dhaabbatane san akka guddatanu gootanee, boruyyaa ganama isiniif daraarulle, guyyaa dhukkubi hin fayyine itti bu'u, waan haammattanu hin qabaattan.

¹² Hoola! Qoonqoon kolbaa heddu'uu akka abbaayaa bulphittuutii ti; qoonqoon gosa biyya adda addaalle akka shookkettii bisaan gudda'aa ti!

¹³ Kolbaan hedduun akka bisaan yaa'uu shookkittulle, yennaa Waaqi isaan xixu, akka hicaacee kooba irraa qilleensi bittinneessuu, akka bukuu hobonbolatti'iin bittinnootuu fagoo hin bittinnowan.

¹⁴ Halkan hin bararaqan; adoo latti hin bari'in hin dhabaman. Worri nu saamu akkasuma hin te'a.

18

Ergaa Marroo Itoophiya'aa

¹ Lafa laga Itoophiya'aatiin* gamaa, ta koolli birrisuutiif aanne'e!

² Latti sun abbaayaa irra, hoboloo allaadduu irraa hujanteen bisaan irra ergantoota ergiti. Isin ergantooti ariiti'iin ideentanu, gara kolbaa dhedheertu'uu, ta gogaan isi'ii lallaafa'aa†, ta fago'oo fi dhiko'otti sodaatantuu, gosa hunnaameyyii jajjaba afaan isaanii hin beekkannee, ta latti isaanii laga heddu'uun gargar qoqoodantee dhaqa'a.

³ Isin kolbaan biyya lafaa marti, ta lafa irra leetanu, yennaa baandiraan gaarota irra dhaabamu hin dhaggitan; tultullaan yennaa afuufamulle hin dhageettan.

⁴ Mootiin Waan Maraa anaan, «Ani addee leetoo tiyyaa irraa, akka ifa o'a adu'uu keessaa calalaquu, o'a yennaa haamma'aa keessa akka duumensa karfaffu'uu, cadhi jedhee gad hin ilaala» jedhe.

⁵ Midhaan woyni'ii adoo hin galchiniin dura, muki woyni'ii daraaraa yennaa buufatu, midhaan woyni'ii yennaa bargoo te'u, billowaan gaaleen isi'iitii fi dameeleen isi'ii irraa muranee akkuma gatamanu, inni kolbaa biyya sanii hin balleessa.

⁶ Reefferi loltoota isaanii allaattii gaaraatii fi bineensota badda'aatiif sagalee hin te'a; allaattiin isaaniin bona hin baati; bineensotille isaaniin ganna hin bayan.

⁷ Yennaa san kolbaan dhedheertuun, ta gogaan isi'ii lallaafa'aa, ta fago'oo fi dhiko'otti sodaatantu, gosi hunnaameyyiin jajjabi afaan isaanii hin beekkanne, ta latti isaanii laga heddu'uun gargar qoqoodante, addee Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade waqonfamutti, gara gaara Xiyoonii Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadeef kennansa hin fiddi.

19

Ergaa Marroo Gibxi'ii

¹ Ergaan marroo biyya Gibxi'ii ta asii gad jirtu:

Mootiin Waan Maraa duumensa ariifata'aan gara biyya Gibxi'ii dhufiisatti jira; waaqoti dharaa ka biyya Gibxi'ii isa duratti hin sheephisan; gadhaan kolbaa Gibxi'ii hin sheephisa.

² Mootiin Waan Maraa, «Ani Gibxoota, Gibxoota irratti, obboleessa, obboleessa irratti, fira, fira irratti, qachaa, qachaa irratti, mootummaa, mootummaa irratti hin kaasa.

³ Worri Gibxi'ii guddoo hin sodaata; karoorri isaaniille akka hin muummonne hin godha; isaan waaqota dharaa, ayyaana eker'aatii fi worra ekeraa dubbisu irraa gorsa hin gaafatan.

⁴ Worra Gibxi'ii harka gootaa gadhaa jabaatutti dabarsee hin kenna; mootiin nama sodaachisulle isaan hin bulcha. Ani Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dande'u tana dubbadheera» jedha.

⁵ Lagi Nayilii hin goga; bisaanille laga keessaa hin bada.

⁶ Lagi sun hin ajowa; bisaan angure'ee ka Gibxi'iille dhidhatee hin goga; beele'ee fi allaaduun hin qoorti.

⁷ Biqiltuun qarqara Nayilii marti hin qoorti; wonni qarqara Nayiliititti facaafame marti gogee, qilleensa hin fudhatanti.

⁸ Worri qurxummii guuru hin gadda; worri malxaqqoo ifii laga Nayilii keessa buusu duudiin hin bowa; worri caccoo ifii bisaan keessatti afatu duudiin addii hin kutata.

⁹ Worri fuutaa baasuu fi worri quncee talba'aa irraa woyaa dhowu addii hin kutata.

* **18:1 Itoophiyaa:** Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali.

† **18:2 Lallaafa'aa:** Yookiin cululuqa'aa

¹⁰ Worri woyaa dhowu kun si'a hin dhaba; worri qaxaramee huj martille hin gaddan.

¹¹ Qondaaltoti qachaa Zo'aanii ijjumaa gowwoole'e; gorsi qaroolee Fara'oonii gatii hin qabu; isin attam Fara'ooniin, «Nuuti qaroole'e; maatii mootota duriitille'e» ifiin jettanii ree?

¹² Ee Fara'oon, qarooleen teeti eessa jiran? Isaan waan Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, biyya Gibxi'ii irratti yaade sitti himanuu ti.

¹³ Qondaaltoti qachaa Zo'aanii gowwiteerti; qondaaltoti qachaa Memfiisille sobanteerti; sooressitooti Gibxi'ii gugurdoon kolbaa Gibxi'ii karaa irraa gorsiteerti.

¹⁴ Mootiin Waan Maraa ayyaana isaan joonjessu isaanitti buuse; isaan akka nama machowee adaala diddiga ifii tittimuu, biyyi Gibxi'ii waan gootu maraan akka tintintu godhaneeran.

¹⁵ Worri mata'atti yookiin eege'etti, damee muka meexxi'iititti yookiin allaadu'uutitti fakkeeffamane, biyya Gibxi'ii ifiin waan tokkolle godhuu hin dande'anuu.

Worri Gibxi'ii Mootii Waan Maraa Hin Waaqonfatan

¹⁶ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara dade, worra Gibxi'ii adabiisaaf harka ifii yennaa ol fuudhu, Guyyaa san isaan akka dubarti'ii hin te'an; sodaataneelle hin romman*.

¹⁷ Biyyi Yihuda'aa biyya Gibxi'ii hin bararassiti; sababa Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade biyya Gibxi'ii irratti waan hantuu yaadateef, nami maqaa Yihuda'aa dhage'u marti hin bararaqa.

¹⁸ Guyyaa san qachooti biyya Gibxi'ii keessa jiranu shan, ka afaan Kana'aanotaa dubbatanu, maqaa Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadeetiin hin kakatan; qachoota kana keessaa tokkochi, «Qachaa badi'ii†» hin jedhama.

¹⁹ Guyyaa san lafa Gibxi'ii wodhakka'atti addeen ciinca'aa Mootii Waan Maraatiif hin ijaaranti; meessaa lafa Gibxi'ii irralle'etti soodduun isaaf hin dhaabanti.

²⁰ Tun lafa Gibxi'ii keessatti Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadeef beessisaa fi dhugaa baya hin teeti; sababa worra isaan cunqursuutiif yennaa isaan gara Mootii Waan Maraa iyyanu, inni fayyisaa isaaniif loluu fi ka diina jalaa isaan baasu isaaniif hin erga.

²¹ Mootiin Waan Maraa worra Gibxi'ii ititti ifi hin mudhisa; guyyaa san worri Gibxi'iille isa hin beekan; isaan ciinca'aa fi kennansa midhaanii isaaf dhikeessiisaan isa hin waaqonfatan; isaan waadaa isaaf hin galan; waadaa saniille hin muummessan.

²² Mootiin Waan Maraa worra Gibxi'ii hin adaba; achiin duuba ammoo isaan hin fayyisa; isaan gara isaa hin deebi'an; innille daadimata isaanii dhage'ee, isaan hin fayyisa.

²³ Guyyaa san karaan biyya Gibxi'ii itii ka'ee, haga biyya Asooriititti hin baya; worri Asoorii gara biyya Gibxi'ii, worri Gibxi'iille gara biyya Asoorii hin dhaqan; worri Gibxi'ii worra Asoorii woliin Waaqa hin waaqonfatan.

²⁴ Guyyaa san Israa'el biyya Gibxi'ii itii fi biyya Asoorii woliin eebba biyya lafaa te'iisaaf, biyya sadeesso'oo hin teeti.

²⁵ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Kolbaan tiyya ta biyya Gibxi'ii, kolbaan biyya Asoorii ta ani harka kiyyaan dade, kolbaan Israa'elii ta ani filadhelle ka eebbifamane te'anuu ti» jedhee hin eebbisa.

* **19:16** *Hin romman*: Yookiin hin hollata. † **19:18** *Qachaa badi'ii*: Afaan Ibrootaatiin jechi, «Badii» jedhu, jecha «Aduu» jedhuun wol fakkaata.

20

Ergaa Marroo Biyya Gibxi'iitii Fi Biyya Itoophiya'aa

¹ Bara ajajaan loltootaa Sargon mootii Asooriitiin ergamee, biyya Ashidoodii lolee qabate,

² yennaa san Mootiin Waan Maraa ilma Amosii Isaayaasitti dubbatee, «Dhaqiitii woyaa gaddaa teeti ifi irraa, kophee teetille miila keeti irraa baafadhu» jedhe; innille akkuma ajajame godhee, woyaa ifi irraa baafatee miila duwwaa ideeme.

³ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa, «Beessisaa fi ifi eeggachiisiisa biyya Gibxi'iitii fi Itoophiya'aa*», tajaajilaan kiyya Isaayaas qullaa ifiitii fi kophee miila ifii baafatee woggaa sad akkuma ideeme,

⁴ akkasuma mootiin biyya Asoorii worra Gibxi'ii qabatee, worra Itoophiya'aa† booji'ee, dargaggootaa fi jaarsolee qullaa isaanii, kophee miila isaanii irraa baasee, hudduu qullaa isaan oofee hin ideema; maarre worri Gibxi'ii hin qaanowa.

⁵ Worri Itoophiya'atti‡ addatee fi worri Gibxi'iin koore, hin sodaata; hin qaanowalle'e.

⁶ Guyyaa san worri qarqara Abbaaya'aa§ le'u, «Kunoo, worri nuuti mootii biyya Asoorii jalaa akka nu baasanuuf addannee, qarqaarsaaf itti baqanne eega akkas te'e, nuuti attamiin isa jalaa baana ree?» hin jedhan» jedhe.

21

Ergaa Marroo Jinnana Baabilonii

¹ Ergaan marroo lafa goomolee qarqara Abbaaya'aa ta asii gad jirtu: Akkuma hobonbolattiin gara kibbaa irraa haxowaa dhuttu, akkasuma lafa goomole'ee ta nama sodaachittu irraa badiin hin dhutti.

² Ani mudhii nama sodaachittu dhagge: Ka nama dabarsee kennu, dabarfamee hin kennama; ka nama saamu hin saamama.

Ee loltoota Elaamii, ka'a'a! Ee loltoota Medoonii, qachaa marsa'a! Rakkoo Baabilon fidde mara ani hin hambura.

³ Ani tana yennaa dhage'e, yennaa dhaggelle, hidhi na citee, akka dubartii ciniinsifattuu te'ee, gad gugguufe.

⁴ Gadhaan kiyya raafamee, naasuun na rommisiitte; bariin ani halchu, sodaa guddoo natti teete.

⁵ Isaan sagalee qopheessane; itillee afane; nyaatanee unane; dedhuma ajaji, «Isin ajajjooti loltootaa ka'a'a. Wontee teessan zayiti'iin haxowadha'a!» jedhu baye.

⁶ Achiin duuba Gootaan anaan, «Dhaqiitii eedduu tokko achi keyi; inni waan dhagge himuu ti.

⁷ Inni garreettota fardaa, ka farda lama lamaan harkifamu, worra harre'ee fi gaala irra tee'ee deemu, yennaa dhaggu, hubatee ilaaluu ti» jedhe.

⁸ Achiin duuba eeddichi, «Ee Goota'a, ani guyyuma guyya'aan xelleephoo irra dhaabbadha; halkan guutuulle dammaqee eega» hin jedha.

⁹ Kunoo, nami tokko garreettaa fardaa ka farda lamaan harkifamu irra tee'ee dhufisatti jira. Eeddichi ammalle «Kunoo, Baabilon jidde! Jidde! Fakkiin waaqota dharaa isi'ii marti bututtee lafa harcaate» jedhe.

* **20:3** *Itoophiyaa*: Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali. † **20:4** *Itoophiyaa*: Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali. ‡ **20:5** *Itoophiyaa*: Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali. § **20:6** *Qarqara Abbaaya'aa*: Qarqarri abbaaya'aa kum ka abbaayaa Filisxeemotaa te'uu dande'a.

¹⁰ Ee kolbaa tiyya, isin worri akka midhaan eeddummee keessatti dhowamee teetane, ani waan Waaqa Israa'elii, Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dade irraa dhage'e isinitti hima.

Ergaa Marroo Edoomii

¹¹ Ergaan marroo Edoomiitiif dubbatante asii gad jirti:

Nami tokko Edoom* irraa na waamee, «Eeddicha! Halkan kun yoom bari'inna? Eeddicha! Halkan kun yoom bari'inna?» naan jedhe.

¹² Eeddichille deebisee, «Halkan hin bari'a; ammoo deebi'eelle hin dhiya; waan gaafattu yoo qabaatte

deebi'ii koyiitii gaafadhu!» jedhe.

Ergaa Marroo Arabaa

¹³ Ergaan marroo biyya Arabaa ta asii gad jirtu:

Ee isin daldaltooti Dedaanii, worri daggala Arabaa keessa qubattanu,

¹⁴ worra dheeboteef bisaan kenna'a. Isin worri biyya Teema'aa, worra baqatee dhufeef sagalee kenna'a.

¹⁵ Isaan shallaagaa jalaa, guubee dhifante jalaa fi lola o'e jalaa baqata-neeran.

¹⁶ Mootiin Waan Maraa anaan, «Akka nami yenna'aaf qaxaramee hujuu woggaa laakkowatu, ulfinni Qedaarii woggaa tokko keessatti gad hin deebi'a.

¹⁷ Loltooti jajjabi Qedaarii, ta guube'een loltu, worri lubbu'uun hafe diqqaa hin te'a. Ani Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii tana dubbad-heera» jedhe.

22

Raaga Marroo Yerusaalemii

¹ Ergaan marroo Dhooqa mudhi'ii ta asii gad jirtu:

Isin maan teetane, marti keessan heellichoo manaa gubba'atti ol baatane?

² Ee qachaa caancaan guutame, ee qachaa hoga'aa fi caaqaa, kolbaan teeti shallaaga'aan hin ijjeefanne yookiin lola keessatti hin duune.

³ Soorressitooti teeti duudiin adduma tokko baqatane; isaan diina ifititti guubee takkaalle adoo gad hin lakkisin booji'amane; diinni fagoo adoo jiruu isin worri baqattane martinuu adduma tokko qabantane.

⁴ Tanaaf ani, «Badii kolbaa tiyyaatiif, wiiccifadhee hin bowaa na irraa fagaadha'a; na jajjabeessiisaafille hin wodhaanina'a» jedhe.

⁵ Gootaan, Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dande'u dhooqa mudhi'ii keessatti guyyaa raafama, dhiitamaa fi bararaqa fidu qaba; guyyaa san dalleenni dhaka'aa hin jijjiga; kolbaalle gara koobaa hin iyyiti.

⁶ Loltooti Elaamii garreettaa fardaan harkifamu, fardoo irra tee'anuu fi korojoo daayaa qopheessite; loltooti Qiirii wontee qopheeffatte.

⁷ Dhooqi teeti dadansaan garreettaa fardaan harkifamuun guutante; abbootiin fardaa karra qachaa keetii dura dhaabbatte.

⁸ Dalleenni Yihudaan itti gollattu jige.

Guyyaa san isin gara meya woraanaa ka mana mootumma'aa ka gongomaa Libaanonii keessaa ilaaltane.

⁹ Dalleya qachaa Daawitii ka caccabe hedduu dhaggitane; bisaan baleessa gadii keessaa kuufattane.

¹⁰ Isin manoota qachaa Yerusaalemii keessa jiranu laakkottane; dalleya qacha'aalle jabeessiisaaf manoota diiddane.

* **21:11** Edoom: Yookiin Se'iir jedhama.

¹¹ Bisaan baleessa durii addee itti kuufamu dalleya lamaan wodhakka'atti ijaarrattane. Isin ammoo gara Waaqa tana hujee hin ilaalle; ka dur karoora baasee hujelle'eef ulfinna hin kennine.

¹² Guyyaa san Gootaan, Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dande'u boottanee, wiiccifatanee mataa haadattanee, woyaa gaddaallee akka uffat-tanuuf isin waame.

¹³ Isin ammoo gammaddanee ilillittanee, sangootaa fi hoolee qalattanee, foon nyaataa, daadhii woyni'iille unaa, «Boru waan duunuuf, kowa'a adha nyaannee, unna» woliin jettane.

¹⁴ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade natti dubbatee, «Dhugumaan yakkaa tanaan duutan malee, araara hin dhaggattanu» jedhe; Gootaan, Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dande'u tana dubbateera.

Waaqi Shebnaa Ifi Eggachiise

¹⁵ Gootaan, Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dande'u, «Gara Shebnaa itti gaafatamaa mana mootumma'aa dhaqiitii,

¹⁶ «Ati asii maan hujja? Asitti addee awwaalaa akka qopheeffattu, kooba irratti addee awwaala akka bocattu, addee reeffi keeti itti foorfatu rassaa keessatti akka qopheeffattu, eentu si'iif eeyyame?

¹⁷ Ee nama jaba'a! Mootiin Waan Maraa jabeessee si qabee, fugussee si qolaansu'uu jira.

¹⁸ Inni akka kubba'aa si maree, gara biyya badho'oo si hin qolaansa; ati achitti hin duuta; garreettoti keeti ka fardaan harkifamanu ka ulfinnaa achitti hin hafan; atille mana gootaa keetiitiif salphinna hin teeta.

¹⁹ Inni addee teeti irraa gad si hin buusa; baallii teeti irralle'ee si hin kaasa» jedhiin.

²⁰ «Guyyaa san ani Mootiin Waan Maraa tajaajilaa kiyya ilma Hiliyya'aa Eliyaaqim hin waama.

²¹ Ani woyaa ulfinnaa teeti isatti hin uffisa; hiituu teetille isatti hin hidha; baallii teeti dabarsee isaaf hin kenna. Inni worra qachaa Yerusaaleemii keessa le'uuf, mana Yihuda'aatiifille abbaa hin te'a.

²² Furtuu mana Daawitii isaaf hin kenna; ka inni banu nami tokkolle cufuu hin dande'u; ka inni cufu nami tokkolle banuu hin dande'u.

²³ Addee addachiittu'utti akka shikaala'aa jabeessee isa hin dongora; inni mana abbaa ifitiif barcumaa mootumma'aa ka ulfinnaa hin te'a.

²⁴ «Ulfinni maatii isaa duudiin ijoolleen, ijoolleen ijoollee isaanii, meen didiqqaan mana keessaa, sini'ii jalqabee haga waaba'atitti isatti hin fan-nifaman.

²⁵ Guyyaa san Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Togaan addee addachiittu'utti jabaatee dongorame sun buqqa'ee caccabee hin jiga; wonni isatti fannifame marti hin baddi» jedha» jedhe.

23

Raaga Marroo Xiiroosii

¹ Raagi marroo qachaa Xiiroosii asii gad jira;
Qachaan Xiiroosii diigamee, manaa fi addee buufataa malee waan hafeef, Ee hoboloota gugurdoo Tarshiishii bowa'a! Oduun tun biyya Qophiroosii irraa dhutte.

² Isin kolbaan oddoola leetanuu fi daldaltooti Sidoonii ka worra hobolo'oon abbaayaa irra deddeemiisaan duroontane cadhisa'a.

³ Midhaan dhooqa Nayilii Abbaayaa gugurdoo irra Xiiroosiif hin dhu-faayyu; kunille galiin isi'ii guddoo waan te'eef, Xiiroos dikkoo daldala gosa biyya adda addaa ti.

⁴ Ee Sidoon qachaa kushee Abbaaya'aa fukkifadhu; sababille abbaayaan dubbatee, «Ani hin ciniinsifanne; hin deennelle'e; ijoollee dhiiraatii fi ijoollee durraalle hin guddifanne» jette.

⁵ Xiirros akka diigante worri Gibxi'ii yennaa dhage'e, nayanee hin romman.

⁶ Ee isin kolbaa oddoola leetanu, gara Tarshiishii gamatti bu'a'aatii wiiccifadha'aa bowa'a.

⁷ Kun qachaa keessan ka durii, qachaa gammadaa, ka namooti achi keessaa gara biyya fago'oo qubatiisaaf dhaqanee motii?

⁸ Qachaa Xiirrosii ka dur ulfinna namaaf kennu, ka daldaltooti isaa akka ilmaan moototaa, ka worri meya isaa gurgurulle biyya lafaa irratti ulfinna qabu karoora kana eentu isa irratti baase?

⁹ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, koora worra qachaa Xiirrosii ka ulfinna qabuu salphisiisaaf, namoota isaa ka biyya lafaa irratti ulfinna qabanu mara gad qabiisaaf, karoora kana baase.

¹⁰ Ee kolbaa Tarshiishii, isin hagonaa achi addee buufata hobolo'oo waan hin qabaanneef, akka laga Nayilii lafa teessan irra yaa'a'a.

¹¹ Mootiin Waan Maraa harka ifii abbaayaa irra diriirsee, mootummoota isi'ii rommisiiseera; dalleya dhaka'aa ka Kana'aaniille akka diigamuuf aja-jeera.

¹² Inni, «Ee qachaa Sidoonii, ati waan diiganteef, hagonaa achi hin gammaddu; gara biyya Qophiroosii gamatti buutulle, foora hin dhaggattu» jedheera.

¹³ Kunoo lafa Baabilonii ilaala'a; kolbaan isi'ii kolbaa bu'aa hin qanne teeteerti. Worri Asoorii xelleephoo itti ijaaratanee, dalleya dhaka'aa ka qachaa sanii diiganeef, lafa bineensi le'u godhane.

¹⁴ Ee isin worri hoboloota gugurdoo Tarshiishiitiin yaatanu, qachaani keessan ka dalleya dhaka'aa waan diigameef, wiiccifadha'aa bowa'a.

¹⁵ Yennaa san qachaani Xiirrosii bara jiruu mootii tokkoo, woggaa torbaatama hin dedhama. Woggaa torbaatamaan duuba ammoo, sirba dubartii sagaagaltitti'ii keessatti,

¹⁶ «Ee dubartii sagaagaltittii dedhante, kiraara guddicha keeti fudhadhuutii qachaa keessa ideemi; akka si qaabatanuuf kiraara keeti guddicha akka dansaa dhowadhuutii, sirba baca sirbi» ta jedhante qachaa Xiirrosii irratti hin teeti.

¹⁷ Woggaa torbaatamaan duuba Mootiin Waan Maraa Xiirros hin yaadata; isiin sagaagala ifii ka qaraattitti deebitee, daldala ifitiin mootota biyya lafaa duudii woliin hin sagaagalti.

¹⁸ Bu'aan isi'iitii fi wonni isiin dhaggattu duudiin ammoo, ka Mootii Waan Maraatiif adda baafame te'a malee, wolitti qabamee hin kuufamu; worri Mootii Waan Maraa tajaajiliisaaf fuula isaa dura dhaabbatu sagalee baca'aa fi woyaa dansaa ittiin bitatan.

24

Mootiin Waan Maraa Biyya Lafaa Hin Adaba

¹ Kunoo, Mootiin Waan Maraa biyya lafaa duwwaa godhee onsa; inni lafa gara balleessee, worra lafa irra le'u hin bittinneessa.

² Wonni kolbaa irratti te'u, hayyicha irralle'etti hin te'a; wonni garbicha irratti te'u, gootaa isaa irralle'etti hin te'a; wonni garbittii irratti te'u, giittii isi'ii irralle'etti hin te'a; wonni nama bitatu irratti te'u, nama gurguratu irralle'etti hin te'a; wonni nama ergifatu irratti te'u, nama ergisu irralle'etti hin te'a; wonni nama liqeeffatu irratti te'u, nama liqeessu irralle'etti hin te'a.

³ Mootiin Waan Maraa dubbii tana waan dubbateef, latti guutumatti saamantee ijjumaa ona hin teeti.

⁴ Latti goddee wonni isii irraa qoorti; biyyi lafaa qom'oortee hin qoorti; gondaaltoti biyya lafaa hin qom'oorti.

⁵ Kolbaan biyya lafaa irra leetu seera Mootiin Waan Maraa eegatiisa, seerata isaa hordofuu diddee, gondooroo isaa ta bara baraa diiddee lafa batteessiteerti.

⁶ Tanaaf abaarsi biyya lafaa hin balleessa; kolbaan isi'iille yakkaa ifitiif hin adabanti. Tanaaf kolbaan lafa irra leetu gubatee, worri diqqaan callaan hafeera.

⁷ Daadhiin woyni'ii haaretti dhumatte; muki woyni'iille goge; worri dur gammadu duudiin aade.

⁸ Qoonqoon dibbe'ee ta nama gammachiittu hatte; hogaan worra firinxixuu cadhi jedhe; qoonqoon kiraara guddichaalle hatte.

⁹ Haganaa achi nami daadhii woyni'ii sirbaa hin unu; untoon nama macheessitu, worra unutti hin hadhooiti.

¹⁰ Qachaan diigamee hin ona; eennulle akka hin seenne, seensumi mana maraa hin cufama.

¹¹ Karaa irratti daadhii woyni'iitiif hin iyyan; gammadi gara gaddaa deebi'e; ililleettiin biyya lafaa keessaa badde.

¹² Qachaan onee hafeera; karrille caccaddee bututteerti.

¹³ Maarre biyyi lafaatii fi gosi biyya adda addaa, akka muka ejersaa ka midhaan isaa irraa hargufameetii fi akka midhaan unkuruura muka woyni'ii irraa guuramee woxoon hafuu hin te'an.

¹⁴ Worri badii irraa hafe qoonqoo ifii ol qabatee, gammadaan hin ilillisa; worri gara aduun seentuu, guddinna Mootii Waan Maraa hin odeessa.

¹⁵ Worri gara aduun baatuulle Mootii Waan Maraatiif ulfinna hin kennan; worri oddoola keessa le'ulle maqaa Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii hin leellisan.

¹⁶ Qaccee biyya lafaa irraa faaruu leellisaa ta, «Ulfinni Waaqa balcha'aaf te'u» jettu hin dhageenna. Ani ammoo deebisee, «Ani huqqadhe! Ani huqqadhe! Aanne'e naaf! Worri maltooleen dabarsanee kennane; maltooleen maltummaa ifitiin dabarsanee kennane» jedhe.

¹⁷ Ee, kolbaa biyya lafaa! Bararaqi, boollii fi tiyyoon isin eegatti.

¹⁸ Nami qoonqoo bararassitu baqatu, boolla keessa hin bu'a; nami boolla keessaa ol bayu tiyyoon hin qabama. Roobi hamaan ol gubba'aa hin rooba; hundeen lafaalle hin tachooti.

¹⁹ Latti dhodhootee, babbaqaxxee akka malee tatachoote.

²⁰ Latti akka nama machowee hin tintinti; akka gosee qilleensa keessaa hin raafanti; yakkaan isi'ii waan itti ulfaatteef hin jiddi; ijjumaa deebitee hin kaatu.

²¹ Yenna san Mootiin Waan Maraa hunna ol-gubba'aa maraa fi bulchitoota lafa irraa hin adaba.

²² Isaan akka namoota boolla keessatti hidhamaneeranuu, wolitti qabaman; haga yennaan isaan adabamanu geettutti manni hidha'aa isaanitti cufamee achi turan.

²³ Mootiin Waan Maraa ka Waan Dade gaara Xiyyoonii irratti, Yersaalem keessatti mootii waan te'uuf, ji'aa fi aduun hin dimimmisan; jaarsoleen kolba'aalle ulfinna isaa hin dhaggiti.

25

Faaruu Leellisaa

¹ Ee Mootii Waan Maraa, ati Waaqa kiyya;

ani si hin jajadha; maqaa keetille hin leellifadha;
 waan maade'ee ka dur yaadde
 addatamumma'aan muummessiteerta.
² Ati qachaa san tuulaa rassa'aa gooteerta;
 dalleya dhaka'aa ka qachaa saniille diiddeerta.
 Manni mootumma'aa ka alagaan ijaare
 haganaa achi hin jiraatu;
 ijumaa deebi'eelle hin ijaaramu.
³ Tanaaf gosi biyya adda addaa jajjaboon
 ulfinna si'iif hin kenniti;
 qachooti gosa biyya adda addaa
 ta gadhaa jabaattuu si hin sodaatan.
⁴ Ati hiyyeessaaf addee itti baqatu,
 rakkata'aaf yennaa rakkinnaa addee itti baqatu,
 yennaa bokkeya bubbe'ee addee jalatti qophatanu,
 yennaa o'a adu'uulle gaaddisa teeteertaaf.
 Wonni afaan worra gadhaa jabaattuu keessaa bayu,
 akka bokkeya bubbe'ee
 ka dhaaba manaa dhowuutii fi
⁵ akka o'a goomole'ee ti.
 Akkuma duumensi o'a qabbaneessu,
 ati hogaa alaga'aa cadhi hin goota;
 faaruun isaaniille hin hatti.

Areertii Waaqi Qopheesse

⁶ Mootiin Waan Maraa Ka Waan mara Dade, gaara Xiyoonii irratti gosa
 biyya adda addaa maraaf, daadhii woyni'ii ta baate, foon coomaa fi daadhii
 woyni'ii dansaa areertii hin qopheessa.
⁷ Inni gaara kana irratti gollaa gaddaa ka gosa biyya adda addaa mara golle
 hin balleessa.
⁸ Gootaan, Mootiin Waan Maraa haga bara baraa du'a hin balleessa; inni
 ila nama duudi'ii irraa imimmaan hin haqa; salphinna kolbaa ifii biyya lafaa
 duudii irraa hin fageessa. Mootiin Waan Maraa tana dubbateera.
⁹ Yennaa san kolbaan, «Dhuguma inni Waaqa keenna; nuuti isatti addannee,
 innille nu fayyise; Mootiin Waan Maraa ka nuuti itti addanne, isa kana;
 kowa'a fayyisiisa isaattitti gammannee ilillinna» hin jetti.

Waaqi Mo'aab Hin Adaba

¹⁰ Harki Mootii Waan Maraa gaara Xiyoonii hin eega; kolbaan Mo'aabii
 ammoo, akkuma hicaaceen dhoqqeen dhiitantu, miila isaa jalatti hin
 dhiitaman.
¹¹ Isaan akka nami bisaan daaku harka ifii badhifatu, dhoqqee san
 keessatti harka ifii hin badhifatan; Mootiin Waan Maraa ammoo maltum-
 maa isaaniitiin adoo hin sobamin, koora isaanii gad hin qaba.
¹² Inni dalleya dhaka'aa dheeraa ka qachaa Mo'aabii gad qabee, lafatti
 buusee, bukuu irratti hin jissa.

26

Faaruu Injifacha'aa

¹ Yennaa san faaruun asii gad jirtu lafa Yihuda'aa keessatti hin faarfanti:
 «Nuuti qachaa jabaa qanna;
 Waaqi dalleya dhaka'aatii fi
 kushee qacha'aa saniin nu hambure.

- ² Kolbaan balchittiin
ta dhugeeffannaa ifii eegatte akka seentuuf,
karra qachaa sanii bana'a.
- ³ Nama qalbii ifitiin jabaatee sitti irkatu,
waan inni sitti addateef,
ati nageya guutu'uun isa hin eedda.
- ⁴ Inni rassaa bara baraa waan te'eef,
haga bara baraa
Mootii Waan Maraatiitti addadha'a.
- ⁵ Inni qachaa kooru hin salphisa;
worra achi keessa le'ulle hin adaba.
Inni qachaa ol ka'e san gara lafaa gad hin qaba;
bukuu keessalle'etti gad hin gata.
- ⁶ Miilli worra cunqurfamanee
isa irra hin ideema;
faanti worra hiyyeeyyi'ii isa irra sirbiti.
- ⁷ «Ee Mootii Waan Maraa qajeela'a!
Ati balchootaaf karaa hin qulqulleessita;
daandii isaan irra ideemanulle
wol hin qixxeessita.
- ⁸ Ee Mootii Waan Maraa!
Karaa seera keetii irra ideemaa,
addi'iin si eeganna;
maqaa keetii fi waan ati nuu goote
qaabatiisa dharraana.
- ⁹ Halkan lubbuun tiyya si dharraati;
ayyaanni kiyyalle si dharra'a;
yennaa ati lafatti murtu,
kolbaan biyya lafaa irra leetu
balchummaa hin baratti.
- ¹⁰ Worra hama'aaf gadhaa yoo laafanelle,
balchummaan maan akka teete hin baratantu.
Isaan lafa qajeelummaa'aa keessalle'etti
waan hantuu hujan;
arnya Mootii Waan Maraalle
hin qalbeeffatanu.
- ¹¹ Ee Mootii Waan Maraa,
harki keeti isaan adabiisaaf ol ka'eera;
isaan ammoo hin dhagganu;
akka ati kolbaa teetiif hinaattu
dhagganee qaanowanuu ti;
ibiddi ati diinaaf qopheessite isaan fixuu ti.
- ¹² «Ee Mootii Waan Maraa,
ati nageya nuuf hin kennita;
waan nuuti hunye mara nuuf muummessiteerta.
- ¹³ Ee Mootii Waan Maraa, Waaqa keenna!
Gottoleen dhibiin nu bulchaneeran;
nuuti ammoo maqaa keeti qofa ulfeessina.
- ¹⁴ Isaan amma du'aneeran;
haganaa achi hin jiraatanu;
ekeraan isaanii hin kaatu.
Ati isaan addaddee balleessite;

- dabarsii isaanii mara ijumaa balleessite.
- ¹⁵ Ee Mootii Waan Maraa, ati kolbaa teeti baceessite;
ati isaan baceessitee, ulfinna ifiif fudhatte.
Meessaa lafaalle karaa maraan badhitte.
- ¹⁶ Ee Mootii Waan Maraa,
isaan yennaa rakko'oo gara keeti dhufane;
yennaa ati isaan adaddu
hasaassa'aan si daadimatane.
- ¹⁷ Ee Mootii Waan Maraa, akkuma dubartiin ulfaa,
yennaa deyiisaaf ciniinsifattu iyyitu,
nuutille si duratti akkasuma teene.
- ¹⁸ Akka dubartii ulfoottee ciniinsifattee teene;
ammoo womaa hin deenne;
waan biyya qarqaaru, waan hunye hin qannu;
biyya lafaa irralle'etti nama hin daballe.
- ¹⁹ «Kolbaan teeti ta duute hin kaati;
reeffi isaanii hin ka'a.
Isin worri awwaalantaneertanu
ka'a'aatii, ilillisa'a!
Ee Mootii Waan Maraa,
Fixeensi ati ergitu fixeensa jiruu kennu waan te'eef,
latti ekeraa ol hin baatti.

Mura'aa Fi Boojuu Irraa Deebi'iisa

- ²⁰ «Ee kolbaa tiyya, kolloo teessan ol seena'aatii, balbala teessan cufadha'a;
haga muftin isaa dabartutti haga diqqaa dhokadha'a.
- ²¹ Kolbaa biyya lafaa cubbuu isaaniitiif adabiisaaf, kunoo, Mootiin Waan Maraa addee bultoo ifiitii dhufiisatti jira. Latti dhiiga isii irratti dhangala'e hin mudhitti; haganaa achi worra ijjeefamane hin dhossitu» ta jettu.

27

- ¹ Yennaa san Mootiin Waan Maraa shallaagaa ifii ka sodaachisu, ka qara qabuu fi jaba'aan, dhudhuufaa gugatu, dhudhuufaa mammarataa hin adaba; bineensa naacha fakkaatu,
ka «Lewaataan» jedhamulle hin ijjeesa.
- ² Yennaa san Mootiin Waan Maraa «Fichaa muka woyni'ii dansa'aaf faarsa'a.
- ³ Ani Mootiin Waan Maraa fichaa san hin eega; yennaa mara bisaan hin obaasa; nami tokkolle akka hin miine halkanii fi guyyaa isa hin eega.
- ⁴ Ani haganaa achi fichaa muka woyni'ii sanitti hin aaru; qore'ee fi qumi'uuduu yoo baaselle ani itti duulee, ibiddaan gubee ijumaa hin balleessa.
- ⁵ «Yookiin gara kiyya baqatanuu ti; na wolille'een nageyaan le'anuu ti; ee, na woliin nageyaan le'anuu ti» hin jedha.
- ⁶ Baroota dhufutti sanyiin Yaaqoobii hidda hin yaafatti; kolbaan Israa'elii quunxitee daraatee, biyya lafaa duudii midhaaniin hin guutti.
- ⁷ Mootiin Waan Maraa akka diinota Israa'elii dhowe, kolbaa Israa'elii hin dhoonne. Akka diinota isaanii ijjeese kolbaa Israa'elii hin ijjeenne.
- ⁸ Inni akka booji'amanu godhee isaan adabe; akkuma qilleensi gubu gara aduun baatuu, waanuma dhagge fuudhee deemu, innille akkasuma hafuura ifii ka sodaachisu isaanitti baafattee, isaan ari'e.
- ⁹ Kolbaan Israa'elii dhakoota addee ciinca'aa ka waaqota dharaa, akka dhakaa boore'ee yennaa caccassanee butuchane, utuboota waaqa dharaa

ta, «Asheeraa» jedhantuu, addee ciinca'aa ta hixaana itti aarsanulle yennaa balleessane, yakkaa ifitiif araara hin dhaggatan.

¹⁰ Qachaan dalleya dhaka'aa diigamee, akka goomole'ee hin ona; jabbiin achi keessa hin dheeddi; achi keessa ciittee baala dameele'ee dheeddee hin fixxi.

¹¹ Dameen mukaa yennaa goddu, hin caccaddi; dubartooti dhuttee qoraan hin caffatti. Kolbaan tun hubantii waan hin qanneef, ka isaan Dade isaaniif hin nayu; isaanille'eef hin mararu.

¹² Guyyaa san Mootiin Waan Maraa kolbaa ifii Israa'eloota laga Efraaxiisii irraa jalqabee, haga meessaa biyya Gibxi'iititti tokko tokkoon wolitti hin qaba. Inni akka nama midhaan hicaacee irraa adda baasuu worra dhibii irraa adda isaan hin baasa.

¹³ Guyyaa san tultullaan guddaan hin afuufama; worri biyya Asooriititti badanee fi worri gara biyya Gibxi'ii booji'ame gara biyya ifii deebi'ee, gaara woyyicha irratti Yerusaalem keessatti Mootii Waan Maraa hin waqonfatan.

28

Efreemiif Aanne'e

¹ Qachaa Samaariya'aa, worra machowaa Efreemiitiif kallacha kooriisaa ka te'e, dhooqa lafa laattuu gubba'atti, daraaraan dansummaa ulfinna isaa ka irraa qooreef, ka worri daadhii woyni'iitiin sule* ittiin kooruuf aanne'e!

² Kunoo, Mootiin Waan Maraa nama jaba'aa fi hunnaamessa qaba; nami sun akka dhakaa bokkeyaa, akka qilleensa wo balleessuu, akka lolaa hama'aa fi akka bokkeya hama'aa, qachaa san hunnaan lafatti dhowa.

³ Kallachi namoota Efreemii ka worri machowu ittiin kooru, miilaan irra sirbama.

⁴ Qachaan Samaariya'aa ka dhooqa lafa laattuu gubba'atti, daraaraan dansummaa ulfinna isaa irraa qoore, akka harruu yenna'aan dura bilchaattee, ka nami akkuma dhaggeen fudhatee nyaatee fixuu hin te'a.

⁵ Guyyaa san Mootiin Waan Maraa ka Waan Mara Dade, kolbaa ifii worra baraaree hafeef kallacha ulfinnaatii fi daraaraa dansummaa'aa hin te'aaf.

⁶ Worra barcumaa mura'aa irra te'uuf, ayyaana haqaa, worra karra qacha'aa irraa diina dhoogguuf hunna hin kenna.

Isaayaasii Fi Raagota Yihuda'aa Machoottuu

⁷ Isaan kun daadhii woyni'ii unanee gatantaran; untoon macheessituun joonjan; Hayyootii fi raagoti untoo macheessitu unanee gatantaraneeran; daadhiin woyni'iille isaan joonjessiteerti; raagoti yennaa mudhii dhagganu hin qalbeeffatanu; hayyootille yennaa mura kennanu hin dokonkoran.

⁸ Qoriin isaanii duudiin diddigaan guutteerti; addeen qulqullitiin hin jirtu.

⁹ Isaan, «Inni eennu barsiisiisaaf wodhaana? Ergaa ifille eennutti issee hima? Ijoollee harma lakkitte ta reefuu harma irraa guute barsiisaa?

¹⁰ Ajaja irratti ajaja, ajaja irratti ajaja, seerata irratti seerata, seerata irratti seerata, asii barumsa diqqaa tokko, achii barumsa diqqaa tokko nutti dabalaa?» hin jedhan.

¹¹ Maarre Mootiin Waan Maraa dubbii hin barataminii fi afaan ormaatiin kolbaa tanatti hin dudubata.

¹² Inni isaaniin, «Addeen tun addee foora ti; worri dadhabe dhufee itti foorfatuu ti; addeen tun addee nageyaa ti» jedhe. Isaan ammoo hin dhageenne.

¹³ Tanaaf jechi Mootii Waan Maraa ka isaan raagichaan, «Ajaja irratti ajaja, ajaja irratti ajaja, seerata irratti seerata, seerata irratti seerata, asii barumsa

* **28:1** Sule: Fedhii haga tarte qabaatiis.

diqqaa tokko, achii barumsa diqqaa tokko nutti dabalaa?» jedhane sun isaan irratti hin te'a. Yennaa san isaan duubatti deebi'anee, jigane hin caccaban; tiyyoolle'een qabamanee hin booji'aman.

Dhakaa Roga Qaccee Ijaarsaa Ka Xiyoonii

¹⁴ Tanaaf isin worri murgaameyyiin, worri kolbaa Yerusaalem keessaa bulchitanu, jecha Mootii Waan Maraa dhage'a'a!

¹⁵ Isin, «Du'a waliin wol gondoorreerra; addee worri du'e jiru wolille'een wolii galleerra; balaan sodaachisu yennaa dhufu, dhara addee itti baqannu, soba addee itti dhokannu waan godhanneef, womaa nu hin tuqu» jettanee koortaneertan.

¹⁶ Tanaaf Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Kunoo, ani dhakaa hunde'ee, ka haga ilaalame, dhakaa roga ijaarsaa ka gatii guddo'oo, ka hundee jaddu'uuf te'u, Xiyoona keessa hin keya; nami isatti dhugeeffatu ijjumaa hin raafamu.

¹⁷ Ani haqa wodaroo miki'ii†, balchummaalle tumbii‡ hin godhadha; dhara isin itti baqattanu san dhakaan bokkeyaa hin balleessa; addee isin itti dhokattanu lolaan irra dhangala'a.

¹⁸ Gondoeroon isin du'a waliin wol gondoorrattane hin diiganti; wolii galteen isin addee worri du'e jiru waliin wolii galtane hin baddi. Balaan sodaachisu yennaa dhufu, isin balaa saniin hin baddan.

¹⁹ Balaan sun yennaa dhufu mara, isin fuudhee hin dabara; ganama ganama, halkanii fi guyyaalle isin hin haxowa» jedha.

Ergaa tana hubatiisi sodaa guddoo fiddi.

²⁰ Tunille akka mammaassa, «Nami taqee gabaadduu irra rafu hin diri-irfatu; nami bullukkoo gadhaa dhiphattu uffatulle ifitti maree hin rafu» jedhame sanii ti.

²¹ Mootiin Waan Maraa gaara Pheraaziimii irratti, dhooqa Giibe'onii keessalle'etti akkuma godhe, ammalle hujii ifii ta baasaa hujiisaaf, kancira hujii ifii muummessiisaaf hin ka'a.

²² Gootaan, Mootiin Waan Maraa, Ka Waan Maraa Dande'u, biyya lafaa ijjumaa akka balleessu ani dhage'eera. Tanaaf hidhaan akka isinitti hin jabaanne, murgiisa lakkisa'a.

Qarummaa Waaqaa

²³ Caqasa'a; qoonqoo tiyya dhage'a'a; waan ani jedhulle qalbeeffadha'a.

²⁴ Qonnaan bulaan, fichaa ifii yennaa mara qotaa ree? Inni quqquuqaa bubbutuchaa, yennaa mara lafa laaffisaa ree?

²⁵ Lafa miidhasseen duuba dinbilaali'ii fi onkooshee\$ facaasaa motii ree? Qamadii tarree isi'ititti, Garbuu addee isaaf qophoottetti, midhaan adda addaalle qarqara sanitti facaasaa motii ree?

²⁶ Kana mara akka inni huju Waaqa isaatitti isa gorsee, isa barsiise.

²⁷ Dinbilaalli* ulee qadho'oon malee, ulee furdo'oon hin dhowantu; onkoosheelle harxumme'een dhowanti malee, korboo garreettaa fardaan harkifamuun hin dhowantu.

²⁸ Midhaan daabboo hujiisaaf daakama; maarre nami tokko haga bara baraa midhaan dhowaa hin le'u. Dhowiisaaf korboo garreettaa fardaan harkifamuu irra oofan malee, butuchiisaaf moti.

²⁹ Tun duudiin Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, abbaa gorsa maade'eetii fi abbaa qarummaa guddo'oo biraa dhutte.

† **28:17** Wodaroo miki'ii: Ta haga wonni tokko dheerattu yookiin badhattu ittiin ilaalanu ‡ **28:17** Tumbii: Meya ijaarsa dhaka'aa itti wol qixxeessanu. \$ **28:25** Onkooshee: Lafa tokko tokkotti okoshee jedhama. * **28:27** Dinbilaalli: Ashuudaa gurraach.

29

Qachaa Yerusaalemiitiif Aanne'e

¹ Ee Yerusaalem, addee ciinca'aa, qachaa Daawiti keessa qubate, si'iif aanne'e! Jila teeti wogguma wogga'aan jilifadhu!

² Te'uu malee, ani Mootiin Waan Maraa addee ciinca'aa san hin rakkisa; achitti bowaa fi gaddi hin te'a. Achiin duuba ati naaf akka addee ciinca'aa ta ibiddi irratti bobe'uu hin teeta.

³ Ani karaa maraan si hin rakkisa; xelleephoolle sitti naannessee, kushee sitti ijaaree si hin rakkisa.

⁴ Achiin duuba ati gad hin deebita; lafa itti gad deebite san keessaa hin dubbatta; dubbiin teeti bukuu keessaa hin dhage'anti; qoonqoon teeti akka qoonqoo ekeraa'aa, boolla keessaa hin baati; haasonni keetille bukuu keessaa hin hasaasa.

⁵ Yerusaalem, diinoti keeti hedduun akka buku'uu hin te'an; loltooti nama sodaachisanulle akka hicaacee qilleensaan fudhatantuu hin te'an. Dedhuma adoo itti hin seyin,

⁶ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade mandiisu'uun, tacho'a lafaatiin, qoonqoo guddoon, hobonbolatti'iin, bubbee bokkeyaatii fi bobe'a ibiddaa ka nama fixuun hin dhufa.

⁷ Achiin duuba loltooti gosa biyya adda addaa, ta Yerusaalemi addee ciinca'aa loltu, ta kushee isi'ii loltuu fi ta isii rakkittu marti akka oojju'uutii fi akka mudhii halkanii hin te'an.

⁸ Akka nami beelowe oojju'uun sagalee nyaatee, yennaa hirriibaa ka'u ammoo beelumaan jiruu, akka nama dheebotee oojju'uun bisaan unee, yennaa hirriibaa ka'u ammoo gaggabee dheebumaan jiruu, gosi biyya adda addaa ta Yerusaalem loltu, akkasuma hin teeti.

Adabbii Ajaja Waaqaa Tuffatiis Fiddu

⁹ Bararaqa'aatii maadeffadha'a! Dunuunfadha'aatii jaama'a! Machowa'a! Ammoo daadhii woyni'iitiinii moti. Gatantara'a! Ammoo untoo nama macheessituunii moti.

¹⁰ Mootiin Waan Maraa hirriiba hamaa isinitti buuseera; inni raagota ila teessan teete ila qabeera; soressitoota teessan ta mudhii dhaggitulle mudhii irraa golleera.

¹¹ Mudhiin tun duudiin isiniif akka kitaaba maramaa cufamee chaappaa itti godhamee ti; kitaaba akkasii nama kitaaba dubbisuu dande'utti kennitanee, «Dubbisi!» yoo jettane, inni ammoo, «Cufamee chaappaan waan itti godhameef, ani dubbisuu hin dande'u» hin jedha.

¹² Nama kitaaba maramaa dubbisuu hin dandeenetti kennitanee, «Dubbisi!» yoo jettane, inni deebisee, «Ani dubbisuu hin dande'u» hin jedha.

¹³ Gootaan, «Kolbaan tun dubbii afaan ifitiin natti dhikaatan; ulfinnalle naaf kennan; gadhaan isaanii ammoo, ana irraa fago'o; isaan ajaja nami isaan barsiiseen na waaqonfatan.

¹⁴ Tanaaf ani ammalle baasaa fi bilbaasa hujee, kolbaa tana hin maadef-fachiisa; qarummaan qaroole'ee hin baddi; hubantiin worra hubatuu hin dhokatti» jedheera.

Addii Gara Duraa

¹⁵ Worra karoora ifii Mootii Waan Maraa duraa akka malee dhoffatiisaaf wodhaananuuf, worra dhossa'aan woy hujuufile aanne'e! Isaan gadhaa ifii keessatti, «Eentu nu dhagga? Eentu nu irratti beeka?» jedhan.

¹⁶ Isin woy gara gaggalchitan; nami faara dhowu faara te'uu dande'aa? Wonni harka namaatiin hujame tokko, abbaa hujeen, «Ati na hin hunye»

jedhuu dande'aa ree? Yookiin okkoteen, abbaa isii dhoween, «Inni womaa hin beeku» jedhuu dandeettii ree?

¹⁷ Yennaa diqqo'oon duuba baddaan Libaanonii fichaa laafaa hin teeti; fichaan lafaan gongomaa hin te'a.

¹⁸ Yennaa san worri gurra duuda'aa, jecha kitaaba maramaa keessaa hin dhage'a; worri ballaan ilti isaanii banantee dhaggiisa hin dande'an.

¹⁹ Mootiin Waan Maraa worra gad ifi qabu hin gammachiisa; worri hiyyeeyyiin Woyyicha Israa'eliititti guddoo hin gammadan.

²⁰ Worri marartii hin qannee fi worri murgu hin badan. Worri nama irratti hantuu yaadu duudiin hin badan.

²¹ Worri dubbiin nama yakkaamessa godhu, worri badhinna kora mura'aa duratti tiyyoo namatti keyu, worri dhugaa baya sobaatiin, worra yakkaa hin qanne haqa dhooggu hin badan.

²² Tanaaf Mootiin Waan Maraa Abrahaam bilisa baase, sanyii Yaaqoobiitiin, «Yaaqoob hagonaa achi hin fokkifatu; qaanoweelle fuula hin badu.

²³ Isaan ijoollee ifii ta ani harka kiyyaan dade odduu ifiititti yennaa dhagganu, isaan maqaa kiyya hin woyyoonsan; woyyummaa woyyicha Yaaqoobii hin beekan; soda'aan ana Waaqa Israa'elii dura hin dhaabbatan.

²⁴ Worri yaadi isaanii karaa irraa gore, deebi'ee hin hubata; worri gungumulle gorsa hin fudhata» jedha.

30

Kolbaa Mataa Jabaatuuf Aanne'e

¹ Mootiin Waan Maraa, «Ijoollee mataa jabaattuuf, karoora kiyya hin te'in ta baafattuuf, fedhii tiyyaan ala gosa biyya adda addaa woliin ta wolii galtuuf, ta cubbuu irratti cubbuu dabaltuuf aanne'e!

² Isaan na irraa gorsa adoo hin fudhatin, gara biyya Gibxi'ii gad bu'an; mootii Gibxi'ii qarqaarsa godhatanee, gaaddisa Gibxi'ii jalatti baqatan.

³ Mootii Gibxi'ii qarqaarsa waan godhattaneef hin fokkifattan; gaaddis Gibxi'iille isin hin qaanessa.

⁴ Qachaa Zo'aanii keessatti qondaaltota qabaattanulle, worri isin ergitane qachaa Gibxi'ii Hanees geyanulle,

⁵ kolbaan sun fokko'oo fi qaanii isaanitti fiddi malee, bu'aa hin qaddu; isaan qarqaaruu waan hin dandeenneef, marti isaanii hin qaanowan» jedhee dubbateera.

⁶ Marroo bineensota biyya Negebii wonni dubbatame asii gad jirti: worri ergame karra ifii harre'etti, meya gatii guddo'oo ka ifille gaalatti fe'atane, lafa soda'aa fi rakinni jiru keessa deemanee, addee neenqi dhala'aa fi kormi, buuti'ii fi dhudhuufaan gugatu jiranu keessa dabaranee, gara kolbaa isaaniif bu'aa hin qannee,

⁷ gara worra Gibxi'ii ka qarqaarsi isaanii bu'aa hin qannee hin dhaqan. Tanaaf ani worra Gibxi'ii, «Jawwee abbaaya'aa ta cadhittee teettu» jedhee maqaa baase.

Kolbaa Hin ajajanne

⁸ Amma dhaqiitii fuula isaanii duratti gabatee irratti barreessi; kitaaba maramaa keessalle'etti barreessi. Kunille baroota dhufuuf, haga bara baraa dhugaa baya hin te'a.

⁹ Isaan kolbaa finqiltuu, ijoollee dharaameyyii gorsa Mootii Waan Maraa hin caqanne.

¹⁰ Isaan worra mudhii dhagguun, «Haganaa achi mudhii hin dhaggina'a», raagole'een, «Raaga dhuga'aa nutti hin raagina'a; waan nu gammachiisuu fi waan nu'uuf dansaa te'e qofa nutti hima'a.

¹¹ Karaa dhuga'aa kana lakkisa'a; daandii irraa gora'a. Marroo Waaqa Woyyicha Israa'elii san nutti hin himina'a» jedhan.

¹² Tanaaf Waaqi Woyyichi Israa'elii, «Isin waan ani isinitti dubbadhu waan tuffataneef, nama cunqursiisaa fi sobiisatti waan addattaneef,

¹³ yakkaan tun akka dalleya dheeraa caccabee, dedhuma jigee bututuu isin hin gooti.

¹⁴ Akkasuma akka meya faaraa ka caccabee bututuu, ka bassoo ibidda ittiin fudhatanu yookiin ta bisaan boolla keessaa ittiin woraabbatanuulle keessatti hin dhagganne hin teetan» jedhe.

¹⁵ Gootaan, Mootiin Waan Maraa Woyyichi Israa'elii, «Isin yoo cubbuu teessan faaci'attanee foorfattane hin fayyitan; cadhittanee naaf yoo addatantane hin jabaatta; isin ammoo diddane,

¹⁶ «Waawwo'o! Nuuti fardo'oon hin baqanna» jettan; tanaaf isin hin baqattan; isin, «Fardoo qolchoolee irra teenna» jettan; worri isin ari'ulle qolchaa hin te'a.

¹⁷ Isaan keessaa nami tokko yennaa isin sodaachisee xixe, isin keessaa nami kum hin baqata; nami shan yennaa xixe, isin martinuu hin baqattan. Utubaa baandira'aa keessan ka gaara irratti dhaabbatee fi beessisa ka kooba irra jiru malee, isin keessaa nami tokkolee achitti hin hafu» jedhe.

¹⁸ Mootiin Waan Maraa ammalle isin marariisaaf hin ossata; inni isiniif nayiisaaf hin ka'a; Mootiin Waan Maraa Waaqa haqaa ti; tanaaf worri isatti addatu duudiin gammaduu ti.

Waaqi Kolbaa Ifi Hin eebbisa

¹⁹ Ee kolbaa Xiyoonii, ka Yerusaalem keessa leetanu, haganaa achi hin boottanu; yennaa isin itti iyyattanu, akkuma qoonqoo teessan dhage'een, inni isiniif mararee deebii isiniif hin kenna.

²⁰ Gootaan sagalee rakkinnaatii fi bisaan farraa isiniif kennulle, barsi-isaan keessan haganaa achi isin duraa hin dhokatu; isin iluma teessaniin isa hin dhaggitan.

²¹ Yennaa isin gara middaa yookiin gara bita'aa deebitanu, qoonqoo isin duubaan, «Karaan kana, isa irra ideema'a» jettu gurri keessan hin dhage'a.

²² Achiin duuba isin waaqota dharaa keessan ka meeti'iin gonfamee fi fakkii waaqota dharaa ta worqi'iin gonfante hin salphittan; akka hoccuu xurti'ii gattanee, «Ila teenna duraa bada'a» isaaniin hin jettan.

²³ Mootiin Waan Maraa midhaan isin facaafattanuuf, bokkeya hin roobisi-isa; lattille midhaan dansaa hedduu hin baatti. Guyyaa san horiin keessan kaloo badho'otti hin tikatan.

²⁴ Qotiyyo'oo fi harreen teessan ta lafa qottu, okeya sooddaan mi'eessanee fi marra gossanee horooro'oo fi akkafa'aan garagaggalchane miidhassane hin nyaatan.

²⁵ Guyyaa xelleephon diinaa diigantee diinni sun dhumatu, gaara gugurda'aa fi kooba dhedheertuu mara irraa bisaan maddee hin yaa'a.

²⁶ Yennaa Mootiin Waan Maraa cannana kolbaa ifii hidhu, madaa isaan madeesselle yennaa fayyisu, jiin akka adu'uu hin ifa; ifi adu'uulle ifa guyyaa torbaa dachaa torba hin te'a.

Waaqi Asoor Hin adaba

²⁷ Kunoo, Mootiin Waan Maraa aarii akka ibiddaa bobbeettuun, ta akka hurrantaa aaraatiin fagoo irraa hin dhufa; inni aari'iin dubbata; arrabi isaalle akka ibiddaa nama fixa.

²⁸ Hafuurri isaa akka bisaan ori'ee guutee morma namaa gewuu ti; inni meemmee badi'iitiin, gosa biyya adda addaa hin meemmesa; bixaala karaa irraa isaan gorsu, afaan isaanii keessaa hin keya.

²⁹ Isin guyyaa jila woyyittii jilifattanu galgala akkuma faarsitanu, hin faarsitan; kolbaan gara gaara Mootii Waan Maraa, gara rassaa Israa'elii, suusullee afuufaa gammadaa akkuma ol baatu, isinille hin gammaddan.

³⁰ Mootiin Waan Maraa aarii bobbeettuun, ibidda nama fixuun, bubbee bokkeya barada'aatiin, bubbee bokkeyaa mandiisu'uutii fi dhakaa bokkeyaatiin qoonqoo ifii ta arnya qaddu namooti akka dhage'anuu hin godha; irreen isaa yennaa dhuttu akka isaan dhagganu hin godha.

³¹ Yennaa Mootiin Waan Maraa ulee ifitiin isaan dhowu, qoonqoon isaa worra Asoorii hin rifachiitti.

³² Mootiin Waan Maraa ulee adabbii ifitiin yennaa isaan adabu mara, dibbe'ee fi kiraarri guddichi hin dhowaman; inni dhowicha harka ifitiin isaan hin lola.

³³ Addeen, «Toofet» jedhantu, ta wo itti gubanu, bara heddu'uun dura qophootteerti; mooticha worra Asooriitiifille qophootteerti; addeen ibiddaa sun qile'e; badhoolle'e; qoraan baca'aa fi ibiddi guddaan achi jira; hafuurri Mootiin Waan Maraa baafatu akka dhakaa bobbe'uu, ibidda itti hin qassiisa.

31

Worra Gibxi'itti Addatuuf Aanne'e

¹ Worra Gibxii irraa qarqaarsa dhaggatiisaaf gad bu'u, worra fardo'otti addatu, worra bacinna garreettaa ifii ka fardaan harkifamuu fi abbootii fardo'oo jajjaboo ifiititti addatu, ammoo worra gara Woyyicha Israa'elii hin ilaallee fi worra qarqaarsa Mootii Waan Maraa hin gaafanneef aanne'e!

² Mootiin Waan Maraa qaro'o; inni badii isaanitti hin fida; waan jedhe irraa duubatti hin deebi'u; inni worra hantuu huju irratti, worra hantuu huju worra qarqaaru irralle'etti hin ka'a.

³ Worri Gibxi'ii namoota malee Waaqaa moti; fardoon isaaniille hori'ii malee Ayyaanaa moti. Yennaa Mootiin Waan Maraa harka ifii diriirsu, worri isaan qarqaaru hin gufata; worri qarqaaramulle hin jiga; lamaanuu wolumaan hin badan.

⁴ Mootiin Waan Maraa, anaan, «Neenqi yookiin neenqi dardarri waan qabate irratti yennaa dhangaa dhowu, iyya tissitoota isa ari'iisaaf wolitti qabamane akkuma hin sodaanne, hogaa isaaniitiif akkuma hin rifanne, akkasuma Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade gaara Xiyooniitii fi kooba isi'ii irratti loliisaaf gad hin dhufa.

⁵ Akkuma sinbirreen koola ifii badhifattee mana ifii irratti gombooddu, akkasuma Mootiin Waan Maraa ka Waan Mara Dade Yerusaleemitti hin gombooba; isi'itti gomboobee hin baasa; gubbaa irra dabaree isii hin hambura.

⁶ «Ee kolbaa Israa'elii! Gara ana Mootii Waan Maraa ka fiqiltanee deebi'a'a.

⁷ Guyyaa san waaqota dharaa keessan, ka meeti'ii fi worqii irraa harka keessan cubbichaan hujjane, isin marti hin gattan.

⁸ Achiin duuba worri Asoorii shallaagaan hin dhumatan; shallaagaan sun ka namaatii moti; shallaagaa namaa ka hin te'iniin isaan hin badan;

shallaagaa san jalaa hin baqatan; dargaggooti isaanii hunnaan namaaf hin hujan.

⁹ Loltooti jajjabi isaanii sodaa guddo'oon hin jigan; ajajjooti loltoota isaanii, baandiraa yennaa dhaggane hin bararaqan» jedha, Mootiin Waan Maraa, ka ibiddi isaa Xiyoona keessa, addeen ibidda isaa Yerusaalem keessa jirtu.

32

Mootummaa Balchummaa'aa

¹ Kunoo, mootiin balchummaa'aan hin mowa; bulchitootille haqaan hin bulchan.

² Tokko tokkoon isaanii akka addee qilleensa jabaa duraa itti dhokatanuu, akka dawoo bubbee bokkeyaa duraa itti baqatanuu, akka madda bisaanii ka goomolee keessaa, akka gaaddisa rassaa guddaa lafa dheebu'uu keessa jiruu hin te'an.

³ Achiin duuba ilti worra dhagguu hin dhaggiti; gurri worra dhage'uulle hin dhage'a.

⁴ Qalbiin worra jarjaruu beekkumsa hin hubatti; arrabi worra gikkisuu hiikamee qulleessee hin dubbata.

⁵ Haganaa achi nami gowwaan nama kabajamaa hin jedhamu yookiin nami yabaabulaan ulfinna hin dhagatu.

⁶ Nami gowwaan gowwummaa dubbata; qalbiin isaa hammeenna yaadatti; inni waan hantuu hujaa, Mootii Waan Maraa arrassa; worra beelote agabuu lakkisa; worra dheebote bisaan dhooggata.

⁷ Malli nama yabaabula'aa hammeenna; nami hiyyeessi waan haqa te'e yoo dubbatelle, nami hamaan dubbii sobaatiin, worra hiyyeeyyii balleessi-isaaf, mala hamaa dhowa.

⁸ Nami ulfinnaa ammoo karoora ulfinnaa baasa; hujii ulfinnaatiin jabaa-tee le'a.

Dubartoota Yerusaalemii

⁹ Ee isin dubartoota qananummaa'aan leetanu, ka'a'aatii, na caqasa'a. Isin ijoolleen durraa ta bidhaa tokko malee leetanu, waan ani jedhu dhage'a'a.

¹⁰ Isin dubartooti bidhaa tokko malee leetanu, muki woyni'ii midhaan waan hin buunneef, yennaan midhaan buusulle waan hin jirreef, woggaa tokkoon duuba naatanee hin hollattan.

¹¹ Isin dubartooti qananummaa'aan leetanu, holladha'a; isin dubartooti bidhaa tokko malee leetanu romma'a. Woyaa teessan baafadha'aatii, woyaa gaddaa hidha keessanitti hidhadha'a.

¹² Fichaa laafa'aa fi fichaa woyni'ii ka midhaan buusuuf, qoma keessan dhowataa bowa'a.

¹³ Fichaa kolbaa tiyyaa ka qore'ee fi qumi'uuduu baaseef, manoota namooti keessatti gammadane maraaf, qachaa caaqaan guutame kanaaf bowa'a.

¹⁴ Manni mootummaa'aa hin ona; qachaan hogaan keessa guutelle duwwaa hin te'a; koobii fi xelleephon irraa tee'anee eeganu haga bara baraa lafa duwwaa harreen diidaa keessa burraaxxuu fi horiin keessa dheedu hin teeti.

¹⁵ Tunille haga Waaqi ayyaana ifii gubbaa irraa nu irratti dhangalaasutti hin teeti. Achiin duuba goomoleen fichaa laafaa hin teeti; fichaan laafaan akka gongoma'aa hin te'a.

¹⁶ Haqi goomolee keessa, balchummaalle fichaa laafa keessa hin jiraatti.

¹⁷ Hujiin balchummaa'aa nageya fiddi; bu'aan balchummaa'aalle sarmiisaa fi bidhaa malee le'iisa.

¹⁸ Kolbaan tiyya addee nageyaa, mana bidhaan hin jirree fi addee itti sarmanu keessa hin leeti.

¹⁹ Gongomaan dhakaa bokkeyaatiin badulle, qachaan ijumaa diigamulle,

²⁰ isin qarqara bisaaniititti midhaan waan facaafattanuuf, loon keessanii fi harreelee teessan addee feetanetti waan bobbaafattanuuf hin gammaddan.

33

Qarqaarsa Dhaggatiisaaf Daadimachuu

¹ Ati ifii adoo hin badin ka nama dhibii balleessitu si'iif aanne'e! Ati adoo nami dabarsee si hin kennin, ka nama dabarsitee kennitu, si'iif aanne'e! Ati nama balleessiisa yennaa lakkittu hin badda; nama dabarsitee kenniisa yennaa lakkittu, nami dabarsee si hin kenna.

² Ee Mootii Waan Maraa, nuuti addii si godhannaa, nuu marari. Ganama ganama jabeenna, yennaa rakko'oolle qarqaarsa nuuf te'i.

³ Mandiisuu qoonqoo teetii, kolbaan hin baqatti; yennaa ati ol kaatu, gosi biyya adda addaa hin bittinnooti.

⁴ Ee, gosa biyya adda addaa! Akkuma awwaannisi waan nyaatu irratti wolitti qabamu, namooti waan boojitane irratti wolitti hin qabaman; akkuma ilmooleen awwaannisaa waan nyaattu saamattu, namooti waan isin boojitane hin saamatan.

⁵ Mootiin Waan Maraa waan mara caala; inni addee ulfinnaa ol-aantuu le'a; inni qachaa Xiyoonii haqaa fi balchumma'aan hin guuta.

⁶ Inni kolbaa ifiitiif hundee fayyinnaa, qarumma'aatii fi beekkumsaa hin te'a; Mootii Waan Maraa sodaatiisille karra karra mara caalte.

⁷ Kunoo, goototi isaanii karaa irratti qarqaarsa dhaggatiisaaf hin iyyan; worri ergantooti nageyaa wiiccifatanee hin bowan.

⁸ Karaan guddaan urmeera; nami karaa irra ideemulle hin jiru; woli galteen diiganteerti; gorsitooti tuffatamaneeran; nami ulfinna namaaf kennu hin jiru.

⁹ Latti goddee, duwwaa teeteerti; gongomaan Libaanonii qaanowee, qooreera; dhooqi Shaaronii akka goomole'ee teete; mukooti Baashaaniitii fi gaara Qarmelosii baala buufate.

Mootii Waan Maraa Diinota Ifi Ifi Eeggachiise

¹⁰ Mootiin Waan Maraa, «Ani amma hin ka'a; ani amma ulfinna hin dhaggadha; ani amma ol hin aana.

¹¹ Wonni isin yaaddanu akka huuraa ti; wonni isin keessaa bayulle akka hicaace'ee ti; hafuurri keessan akka ibidda isin fixuu ti.

¹² Kolbaan akka dhakaa boore'ee hin gubatti; akka haxanxarii qore'ee ta cirantee ibiddatti hin naqanti.

¹³ Isin worri fagoo jirtanu, waan ani godhe dhage'a'a! Isin worri dhikoo jirtanulle hunna tiyya beeka'a!» jedha.

¹⁴ Cubbaaleyyiin Xiyoan keessa jiranu sodaatane; worri Waaqa malee le'u soda'aan rommanee, «Nu keessaa eentu ibidda nama fixu woliin le'uu dande'a? Nu keessaa eentu ibidda hin dhaanne woliin le'uu dande'a?» jedhan.

¹⁵ Nama balchumma'aan ideemu, nama waan sirrii te'e dubbatu, nama bu'aa karaa dabaatiin dhuttu jibbu, nama safuu fudhatiisa irraa harka ifii eegatu, nama mala nama ijjeesiisaa hin dhageenne, nama ilti isaa waan hantuu hin ilaalle,

¹⁶ nami akkasii kun addee ol aantuu le'a; kusheen rassa'aa addee inni itti baqatu hin teeti; sagaleen isaaf hin kennanti; bisaan unanulle hin dhabu.

Ulfinna Gara Duraa Dhufu

¹⁷ Ilti teeti ulfinna mootichaa, lafa akka malee badho'oo ta inni bulchulle hin dhaggiti.

¹⁸ Sodaa guddoo teeti ta durii qaabataa, «Ajajaan loltootaa eessa jira? Ka gibira guuru eessa jira? Itti gaafatamaan xelleephoo eeddootaa eessa jira?» hin jetta.

¹⁹ Ati hagamaa achi kolbaa nama tuffattu, ta dubbiin isaanii hin beekkannee fi ta afaan isaanii namaaf hin galle san hin dhaggitu.

²⁰ Qachaa jila itti jilifannu, gara Xiyoonii ilaali. Ilti teetii qachaa Yerusaaleemii ka nageyaan keessa leetanu, dunkaanii achii hin tachoone, ka togaan isi'ii ijumaa hin buqqaane, ta wodaroon isi'ii keessaa takkaalle hin cinne hin dhaggiti.

²¹ Mootiin Waan Maraa achitti arnya nu'uuf hin te'a; inni akka lagoota babadha'aatii fi akka madda gugurda'aa ka hobolooti diinaa achi irra hin dabarree fi ka hobolooti gugurdoolle achi irra hin ideenne nu'uuf hin te'a.

²² Mootiin Waan Maraa abbaa mura'aa keenna; Mootiin Waan Maraa seera nu'uuf kenna; Mootiin Waan Maraa mootii keenna; ka nu fayyiselle isa.

²³ Kolbaan teessan akka hoboloo wodaroon irraa lufee, ka utubaan isi'ii jabaatee hin dhaabbatinii, ka sharaan isi'iille hin dhifaminii ti. Achiin duuba boojuun bacaan hin qoqoodanti; naafille waan booji'ame san hin saama.

²⁴ Worra Xiyoon keessa le'u, yakkaa isaaniitiif araarri waan kennamuuf, isaan keessaa nami tokkolle, «Ani dhibame» hin jedhu.

34*Muraa Gosa Biyya Adda Addaa Irratti Murantu*

¹ Ee isin gosa biyya adda addaa, as dhikaadha'aatii caqasa'a. Ee kolba'a hubadha'a. Lattii fi wonni isii irra jiru marti, biyyi lafaatii fi wonni isii keessatti dhaggamu marti dhage'anuu ti.

² Mootiin Waan Maraa gosa biyya adda addaa irratti aareera; inni loltoota isaanii mara irratti guddoo aareera; ijumaa isaan hin balleessa; worra isaan ijjeesulle'etti dabarsee isaan hin kenna.

³ Worri ijjeefame alatti gatamee, reeffi isaanii hin ajowa; gaarotille dhiiga isaaniitiin hin maxanqowa.

⁴ Urjooti ol-gubba'aa marti hin baxxi; gubbaan akka kitaaba marama'aa hin maranti; urjooti marti akka baala muka woyni'iitii fi akka baala muka harru'uu, qooranee hin harca'an.

⁵ Shallaagaan Mootiin Waan Maraa ol-gubba'atti waan fedhe godhee, kolbaa inni ijumaa balleesse, worra Edoomiititti muriisaaf gad hin bu'a.

⁶ Shallaagaan Mootii Waan Maraa dhiigaa fi coomaan dhuubameera; dhiiga buruusoo korbeeyyii hoole'eetii fi re'e'eetiin, cooma kalattii korbeeyyii hoole'eetiin laaqameera; Mootiin Waan Maraa qachaa Bozra'aa keessatti ciincaa, lafa Edoomii keessalle'etti qalma guddaa hin qopheessa.

⁷ Kolbaan Edoomii akka gafarsaa, akka dardarootaatii fi akka korommi'ii achitti hin qalaman; latti isaanii dhiigaan hin laaqanti; biyyeelle cooma isaaniitiin hin laambubanti.

⁸ Mootiin Waan Maraa marroo Xiyooniitiif bara itti falmatuu fi guyyaa itti haluu bayu qaba.

⁹ Maddi Edoomii leyyaa, biyyeen dhakaa bobe'u, latti leyyaa gubu hin te'an.

¹⁰ Ibiddi achi keessaa halkanii fi guyyaa hin dhaamu; aarrille haga bara baraa ol hin ka'a. Latti sun dhalootaa haga dhalootaatitti hin onti; nami tokkolle deebi'ee haga bara baraa achi keessa hin dabaru.

¹¹ Cululle'ee fi dhaddoon lafa san hin qabatan; urungu'uu fi harraaqessi mana achitti hin ijaaratan; Waaqi lafa san wonni tokkolle akka irratti hin hanne godhee hin onsa.

¹² Nami waamanee mootii godhanu, gondaaltota isaanii keessa hin jiru; sooreyyiin isaanii marti ijjumaa hin badan.

¹³ Mana mootummaa isaaniititti goreen hin latti; qachaa isaanii ka dalleya dhaka'aatiin marfametti doobbi'ii fi qumi'uuduun hin latti; addee jeedalli fi urunguun itti galanu hin te'a.

¹⁴ Bineensoti goomole'eetii fi woraabessi achitti wolitti hin qabaman; duriisoti halkanille achi wol waaman; addee fooraalle achitti hin dhaggatan.

¹⁵ Urunguun achitti mana ijaarattee, quuphaa buuttee, cuucuu dhoofattee, itti hin kabbiti; allaatiin dhaltu'uu fi kormi achitti wolitti hin qabaman.

¹⁶ Kitaaba Mootii Waan Maraa keessa barbaada'aatii dubbisa'a. Waan kana keessaa ka hafu tokkolle hin jiru; achi keessaa dhala'aa fi korma ka dhabu hin jiru. Mootiin Waan Maraa afaan ifitiin tana waan ajajeef, ayyaanni isaa wolitti isaan qaba.

¹⁷ Inni isaaniif hixaa buuseera; harka ifitiin safaree lafa isaaniif qood-eera; isaan haga bara baraa lafa san hin dhaalan; isaan dhalootaa haga dhalootaatitti achi hin le'an.

35

Gammada Worra Wodamee

¹ Goomole'ee fi latti godduun hin gammaddi;
gammoojjiin firinxiixxee,
akka daraara'aa hin daraarti.

² Goomoleen daraaraa hedduu daraartee,
guddoo firinxiixxee, hin ilillitti;
ulfinni gaara Libaanonii,
arnyi gaara Qarmelosiitii fi
dhooqa Shaaronii isi'iif hin kennama.

Nami marti ulfinna Mootii Waan Maraatiif fi
arnya Waaqa keennaa hin dhagga.

³ Harka dadhabe jabeessa'a;
jilba lalleqelle jabeessa'a.

⁴ Worra gadhaan isaanii soda'aan qabameen,
«Jabaadha'a; hin sodaatina'a!

Kunoo, Waaqi keessan diinota keessan haluu bayyiisaaf,
yakkaa isaan isin irratti hujaneef
gatii isaan kaffalchiisiisaaf,
isin ammoo fayyisiisaaf hin dhufa» jedha'a.

⁵ Achiin duuba ilti worra balla'aa hin bananti;
gurri worra duuda'aalle hin dhage'a.

⁶ Naafi akka gadansaa hin utaala;
worri afaan duuda'aa, hin ilillisa.

Gammoojjii keessaa bisaan,
goomolee keessaa maddi hin burqa;
⁷ maansi akka ibiddaa gubu baleessa hin te'a;
lafa godduu keessaa bisaan hin burqa.

Addeen jeedalti keessa leetu
marra, shonbooqqa'oo fi allaaduu hin baatti.

- ⁸ Achi keessa karaan guddaan hin baya;
 maqaan isaalle, «Karaa Woyyicha» hin jedhama.
 Karaa san irra kolbaa Waaqaa qofattuu deema malee,
 worri battiin irra hin deemu;
 worri gowwooleelle irra hin deemu.
- ⁹ Neenqi achi hin jiraatu;
 bineensi hamaan achi irra hin ideemu.
 Worra wodame qofattuu achi irra ideema.
- ¹⁰ Worri Mootiin Waan Maraa wode hin deebi'an;
 faarfataa gara Xiyoonii hin galan.
 Kallacha gammada bara baraa mata'atti hin keyatan;
 isaan gammadaa fi qananummaa hin dhaggatan;
 gaddaa fi aadiis isaan irraa hin fagaata.

36

Senaaheriib Yerusaalemitti Duule

- ¹ Hisqiyaas mootii te'ee woggaa kudhanii arfeesso'ootitti, mootiin Asoorii Senaaheriib, qachaa Yihuda'aa ka dalleya dhaka'aa qabu mara lolee qabate.
- ² Achiin duuba mootiin Asoorii Senaaheriib ajajaa loltoota ifii Rabshaaqee, loltoota hedduu waliin Laakiishi irraa addee mootichi Hisqiyaas jiru gara Yerusaalemi erge. Ajajaan loltootaa sun dhufee, anguree* baleessa gatiitti'ii† ka karaa fichaa namicha woyaa dhiquu geessu bira dhaabbate.
- ³ Achitti itti gaafatamaan mana mootumma'aa ilmi Hilqiiya'aa Eliyaaqim, barreessaan mana mootumma'aa Shebnaanii fi barreessaan dabarsi'ii ilmi Asaafii Yo'aan, gara isaa gad bayane.
- ⁴ Ajajaan loltootaa Rabshaaqeen Hisqiyaasitti isaan ergee, «Mootiin Asoorii guddichi, «Ati maan addattee bidhaa male teetta?
- ⁵ Ati afaan callaan mala lolaatii fi hunna loltootootaa si'iif te'a seetaa? Ati eennu addattee na irratti kaate?
- ⁶ Biyya Gibxi'ii ta akka shonbooqqoo caccaddee ta yennaa qabatanu harka namaa woraantee madeessituu addattaa? Mootiin Gibxi'ii nama isatti addatu maraaf akkasuma» jedha.
- ⁷ «Ati, «Nuuti Mootii Waan Maraa Waaqa keennatti addanna» anaan yoo jette, inni Mootuma Waan Maraa ka ati, worra Yihuda'aatii fi Yerusaalemiitiin, «Addee ciinca'aa tana duratti waaqonfatiisa qaddan» jettee, addee waaqonfanna'aatii fi addee ciinca'aa balleessitee motii?
- ⁸ Amma koyiitii gootaa kiyya mootii Asoorii waliin wol morki; namoota farda irra tee'anee loluu dande'anu abbootii fardaa yoo qabaatte, ani fardoo kuma lama si'iif hin kenna.
- ⁹ Ati garreettaa fardaan harkifamuu fi abbootii fardaa ka worra Gibxi'iititti addattulle, tajaajiltoota gootaa kiyyaa keessaa ka guddoo diqqa'aatuu ifi irraa dhooggatuu hin dandeettu.
- ¹⁰ Ani biyya tana fedha Mootii Waan Maraatiin ala lolee balleessiisaaf dhufe seetaa? Mootii Waan Maraatiituu, «Biyya tanatti duuliitii balleessi» anaan jedhe» jedhe.
- ¹¹ Achiin duuba Eliyaaqim, Shebnaa fi Yo'aan, ajajaa loltootaatiin, «Kolbaan dalleya dhaka'aa irra jirtu hin dhageettii, afaan Ibrootaatiin nutti hin dubbatin; nuuti waan beennuuf, afaan worra Sooriya'aatiin‡ nu tajaajiltoota teetitti dubbadhu» jedhane.

* **36:2 Anguree:** Karaa bisaan hidha qabame keessa yaa'u. † **36:2 Gatiitti'ii:** Yookiin gara olii jechuulle hin dande'ama. ‡ **36:11 Worra Sooriya'aa:** Bara durii Aaram jedhaman.

¹² Inni deebisee, «Goottaan kiyya dubbii tana gootaa keessanii fi isin qofatti akka dubbadhuuf na erge isinitti fakkaataa? Namoota dalleya dhaka'aa irra jiranu worra akkuma keessan udaan ifii nyaatu'uuf jiruu fi fincaan ifii unu'uuf jiruuf akka dubbadhuuf na ergee motii ree?» jedhe.

¹³ Achiin duuba ajajaan loltootaa sun dhaabbatee, qoonqoo ol qabatee afaan Ibrootaatiin, «Dubbii mootii guddaa Asoorii dhage'a'a!

¹⁴ Mootichi, «Hisqiyaas isin baasuu waan hin dandeenneef, inni isin hin sobin» jedha.

¹⁵ Hisqiyaas, «Mootiin Waan Maraa dhugumaan nu hin baasa; qachaan kunille harka mootii Asooriititti dabarfamee hin kennamu» jedhee Mootii Waan Maraatitti akka addattanu isin hin godhin.

¹⁶ Waan Hisqiyaas jedhu hin dhage'ina'a. Mootiin Asoorii, «Na woliin araarama'a; gara kiyya kowa'a; achiin duuba tokko tokkoon keessan midhaan woyni'ii keessanii fi midhaan harru'uu keessan hin nyaattan; boolla bisaanii teessan keessaa bisaan hin untan.

¹⁷ Tun haga ani dhufee lafa akka lafa teessanii fakkaattu, lafa midhaaniitii fi daadhii woyni'ii, lafa daabbo'ootii fi lafa muka woyni'ii isin geessutti teeti» jedha.

¹⁸ Hisqiyaas, «Mootiin Waan Maraa nu hin baasa» jedhiisaan, yennaa isin dokonkorsu isa hin caqasina'a! Waaqota gosa biyya adda addaa keessaa, lafa ifii harka mooticha Asoorii jalaa ka baase jiraa ree?

¹⁹ Waaqoti Haama'aatii fi Arphaadii eessa jiran ree? Waaqoti Sefarwaayimiille eessa jiran ree? Isaan qachaa Samaariya'aa harka kiyyaa baasaneeranii ree?

²⁰ Waaqota biyyoota tanaa mara keessaa lafa ifii harka kiyyaa ka baasuu dande'e kam ree? Mootiin Waan Maraa attam Yerusaalem harka kiyyaa baasuu dande'a ree?» jedhe.

²¹ Mootichi Hisqiyaas, «Deebii isaaf hin kennina'a» jedhee waan isaan ajajeeruuf, kolbaan cadhitte; waan tokkolle hin deebinne.

²² Achiin duuba itti gaafatamaan mana mootumma'aa ilmi Hilqiiya'aa Eliyaaqim, barreessaan mana mootumma'aa Shebnaanii fi barreessaan dabarsii mana mootumma'aa ilmi Asaafii Yo'aan, gaddanee woyaa ifii tarsaasane; gara Hisqiyaasii mootichaa dhaqanee, waan ajajaan loltoota Asoorii dubbate isatti himane.

37

Hisqiyaas Akka Isaayaas Isa Gorsu Gaafate (2 Mot. 19:1-7)

¹ Mootichi Hisqiyaas tana yennaa dhage'e, gaddee woyaa ifii tarsaase; woyaa gaddeelle uffatee gara Galma Mootii Waan Maraa seene.

² Inni itti gaafatamaa mana mootumma'aa Eliyaaqim, barreessaa mana mootumma'aa Shebna'aa fi hayyootaa keessaa worra jaarsole'etti woyaa gaddaa uffisee, gara Isaayaasii raagicha ilma Amosii isaan erge.

³ Isaan Isaayaasiin, «Mootichi Hisqiyaas, «Barri kun bara rakkinnaa, bara adabbi'iitii fi bara salphinnaa ti; akka dubartii deyiisa geettee hunna ittiin ciniinsifattee deettu dhadduu ti.

⁴ Dubbii ajajaa loltootaa Rabshaaqeenii ta gootnaan isaa mootiin Asoorii isa ergee, Waaqa jiraata'atti akka inni murgu godhe tana dhage'ee, Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti isa hin adaba fa te'aa, worra hafeef daadimadhu» jedha» jedhane.

⁵ Tajaajiltooti Hisqiyaasii mootichaa gara Isaayaasii yennaa dhufane,

⁶ inni isaaniin, «Mootiin Waan Maraa, gootaa keessaniin, «Dubbii tajaajil-tooti mootii Asoorii na faanshessite waan dhageetteef hin sodaatin.

⁷ Kunoo, ani ayyaana akka inni oduu dhage'ee gara biyya ifii deebi'u isa godhu isaaf hin kenna; achitti shallaaga'aan akka inni du'u hin godha» jedheera, jedha'aatii itti hima'a» jedhe.

Senaaheriib Ammalle Mooticha Yihuda'aatitti Roorrise

⁸ Mootiin Asoorii qachaa Laakiishii lakkisee akka deeme, ajajaan loltoota Asoorii dhage'ee yennaa deebi'e, inni qachaa Liibna'aa loliisatti jiruun dhagge.

⁹ Mootiin Itoophiya'aa* Tiirhaaqaan akka isa loliisaaf dhufaaru Senaaheriib yennaa dhage'e, Hisqiyaasitti namoota ergee,

¹⁰ «Ee Mootii Yihuda'aa Hisqiyaas! Waaqi ati itti addattu sun, «Yerusaalem harka mootii Asooriititti dabarfantee hin kennantu» jedhee si hin sobin.

¹¹ Kunoo, ati waan moototi Asoorii biyyoota mara godhane, akka isaan ijjumaa isaan balleessane dhageetteerta; ati hin baata seetaa?

¹² Kolbaa qachaa Gozaanii, kolbaa qachaa Kaaraaniitii fi kolbaa qachaa Rezeefii, akkasuma kolbaa Edenii ta Tel-Asaar keessa leetuu ta abbootiin tiyya ta durii balleessite, Waaqoti gosa biyya adda addaa isaan baasaneerani ree?

¹³ Moototi qachoota Haamaatii, Arphaadii, Sefarwaayimii, Henaatii fi Iiwaa meet ree?» jedhe.

Daadimata Hisqiyaasii

¹⁴ Mootichi Hisqiyaas worra ergame irraa xalayaa fuudhee dubbise; achiin duuba gara Galma Mootii Waan Maraa dhaqee, xalayaa san Mootii Waan Maraa duratti diriirsee,

¹⁵ isa daadimatee,

¹⁶ «Ee Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadde, Waaqa Israa'elii, ka dada ol-gubba'aa ta koola qadduun† gubbaa barcumaa mootumma'aa irra teetteertu, Waaqi mootota biyya lafaa maraa si qofa; ati lafaa fi ol-gubbaa daddeerta.

¹⁷ Ee Mootii Waan Maraa, gurra keeti gara keenna deebifadhuu dhage'i; ila teetille banadhuutii ilaali; jecha Senaaheriib si Waaqa jiraataa arrassiisaaf erge dhage'i.

¹⁸ Ee Mootiin Waan Maraa, moototi Asoorii gosa biyya adda addaatii fi lafa isaanii mara dhugumaan balleessaneeran;

¹⁹ waaqota isaanille ka dhaka'aa fi muka irraa harka namaatiin bocamane hujamane gubanee balleessaneeran.

²⁰ Ammalle, ee Mootii Waan Maraa Waaqa keenna! Mootummaan lafaa marti, Mootiin Waan Maraa Waaqi si qofa akka te'e akka beekanuuf, harka mootii Asoorii jalaa nu baasi» jedhe.

Ergaa Isaayaas Mooticha Hisqiyaasitti Erge

²¹ Achiin duuba ilmi Amosii Isaayaas ergaa gara Hisqiyaasii ergee, «Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, «Ani waan ati marroo Senaaheriibii mootii Asooriitiif daadimatte dhage'eera» jedha.

²² Mootii Waan Maraa marroo isaatiif, «Ee Senaaheriib, kolbaan Yerusaalemii si tuffattee sitti murgiti; si'ii dheettuun kolbaan Yerusaalemii si duubaan sitti kolliti.

²³ Ka ati arrassitee fi ka ati faanshessite eennu? Ati eennu irratti barooddee ila teeti baache? Ana wooyyicha Israa'elii irratti motii?» jedha

* **37:9** Itoophiyaa: Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali. † **37:16** Dada ol-gubba'aa ta koola qaddu: Dadi koola qaddu ta dhaggama Waaqaa bakka buutu.

²⁴ Ati karaa ergantoota teetiitiin, Mootii Waan Maraa irratti murgitee, «Ani garreettaa kiyya ka fardaan harkifamu heddu'uun gara qaccee gaarotaatitti, qaccee gaarota Libaanoniititti ol bayeera; qaccee gaarota sanii irraa hindheensa dhedheera'aa fi birbirsaa dadansaa jijjisseera; gara gongomaa ciggaa addee ol kaate irra jiru keessa seeneera.

²⁵ Biyya ormaa keessatti boolla bisaanii qotee, bisaan achii uneera; faana miila kiyyaatiin lagoota Gibxi'ii mara gosseera» jette.

²⁶ «Mootiin Waan Maraa, «Waan amma te'e kana akka ani qopheesse, bara heddu'uun dura karoora akka baase, qachoota dalleya dhaka'aa qabanu akka ati butuchitu, tuulaa kosi'iille akka ati isaan gootu, akka ani godhe ati hin dhageennee?

²⁷ Kolbaan qachoota san keessa leetu hunna dhaddee, sodaattee qaanotteerti; akka biqiltuu diida keessaa yookiin akka marra lattu'uu, akka marra mana irratti latee, akka midhaan qilleensaan qooree te'aneeran.

²⁸ ««Ani ammoo ka'aa fi teessoo teeti, bayaa fi gala keeti, aari'iin na irratti ka'iisa keeti beekeera.

²⁹ Ati aari'iin na irratti waan kaateef, kooriisa keetille waan dhage'eef, ani saganaa kiyya funnaan keetitti, bixaala kiyya afaan keetitti keyee, karuma dhutte si deebisa» jedha» jedhe.

³⁰ Isaayaas ammalle mooticha Hisqiyaasiin, «Tun beessisa si'iif hin teeti: «Baranaa fi bara dhufu midhaan haaga'ee hin nyaatta; woggaa sadeesso'oo ammoo midhaan facaattee hin haammatta yookiin muka woyni'ii dhaabbattee midhaan isi'ii hin nyaatta.

³¹ ««Sanyii Yihuda'aa keessaa worri miliqee hafe, akka mukaa hidda gad yaafatee midhaan hedduu hin buusa.

³² Worri Yerusaalem keessatti baraaree hafanee fi worri gaara Xiyoonii irratti lubbu'uun hafane hin dhufan; hinaaffaan Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadee tana hin gooti» jedhe.

³³ «Tanaaf Mootiin Waan Maraa marroo mootii Asoorii, «Inni qachaa kana hin seenu yookiin daaya as itti hin darbatu; wontee qabattee itti hin dhikaattu yookiin kushee itti hin ijaarratu.

³⁴ Inni karuma dhufe deebi'a malee, qachaa kana hin seenu. Ani Mootiin Waan Maraa tana dubbadheera.

³⁵ Ani ulfinna kiyyaa fi waadaa tajaajilaa kiyya Daawitii galeef jedhee, qachaa kana hin eega; hin hamburalle'e» jedheera» jedhe.

³⁶ Achiin duuba ergamaan Mootii Waan Maraa bayee, quttuma worra Asoorii keessatti, namoota kuma dhibba tokkoo fi kuma saddeettamii shan ijjeese; boruuyyaa ganama namooti yennaa ka'anuu, nami marti du'eeruun dhaggane.

³⁷ Achiin duuba mootiin Asoorii Senaaheriib, addee quttumaa san lakkisee gara qachaa Nanawwe'ee deebi'ee achi le'e.

³⁸ Gaafa tokko inni galma seenee waaqa ifii ka «Nisroo» jedhamu waaqonfatiisatti adoo jiruu, ilmaan isaa Adraamelekii fi Shaarezzer shallaaga'aan isa ijjeesane, gara lafa Araaraatiititti baqatane; addee isaatitti ilmi isaa Esaarhadon mootii te'e.

38

*Hisqiyaas Dhibamee Fayye
(2 Mot. 20:1-11; 2 Dab. 32:24-26)*

¹ Bara san mootichi Hisqiyaas guddoo dhibamee du'uu geyeeraayyu; Isaayaasiin raagichi ilmi Amosii gara isaa dhaqee, «Mootiin Waan Maraa, «Ati hin duuta malee, dhibee teeti irraa waan hin fayyineef, waan mara midhaaffadhu» siin jedha» jedheen.

² Achiin duuba Hisqiyaas fuula ifii gara dhaaba manaa garagalee Mootii Waan Maraa daadimatee,

³ «Ee Mootii Waan Maraa, ani addatamumma'aa fi gadhaa tokkochaan si tajaajilee, yennaa mara waan si duratti dansaa te'e akka huje qaabadhu» jedhee laaleffatee bowe.

⁴ Achiin duuba jechi Mootii Waan Maraa gara Isaayaasii dhufee,

⁵ «Dhaqiitii Hisqiyaasiin, «Ani Mootiin Waan Maraa Waaqi abbaa keeti Daawitii daadimata keeti dhage'eera; imimmaan teetille dhaggeera; ani bara jiruu teetii irratti woggaa kudhanii shan hin ede'a.

⁶ Ani si'ii fi qachaa Yerusaalemii kana harka mootii Asoorii jalaa hin baasa; ani qachaa kanalle hin eega» jedhi» jedheen.

⁷ Isaayaas deebisee, «Mootiin Waan Maraa waadaa si'iif gale kana akka muummessuuf, beessisi inni si'iif kennu kana:

⁸ Inni, «Kunoo, gaaddisa adu'uun yaabbannoo Ahaazii irratti gad gale kana, tarkaaffii kudhan gara duubaa akka deebi'u hin godha» jedheera» jedhe. Maarre gaaddis tarkaaffii kudhan gara duubaa deebi'e.

⁹ Mootiin Yihuda'aa Hisqiyaas dhibee ifii irraa fayyeen duuba, waan asii gad jiru barreesse:

¹⁰ Ani, «Wodhakkaa bara jiruu tiyyaatitti
gara karra addee worri du'e jiruu dhaqaa ree?
Barri kiyya ka hafelle na irraa saamamaa ree?

¹¹ Ani deebi'ee lafa worra jiraata'aatitti
Mootii Waan Maraa,
biyya lafaa irralle'etti namoota hin dhaggu.

¹² Akkuma dunkaaniin tissitootaa buqqaatu,
barri jiruu tiyyaa na irraa hin fudhatama;
akkuma worri woyaa dhowu woyaa maru,
akkasuma jiruun tiyya hin maranti;
akkuma nami woyaa dhowu
waan woyaa dhowee itti maru
irraa woyaa muru,
jiruun tiyyalle,
guyyaa tokko keessatti hin muranti.

¹³ Ani haga latti bariitutti qarqaarsa dhaggatiisaaf iyya;
inni ammoo akka neenqaa lafee tiyya mara caccassa;
guyyaa tokko keessatti jiruu tiyya mura.

¹⁴ Ani akka sinbirree doogo'oo* iyya;
akka saphaliisaalle aada;
ilti tiyya gara ol-gubba'aa ilaaliisaan dadhaddeerti.
Ee Mootii Waan Maraa,
ani rakkadheera,
na qarqaar.

¹⁵ Eega inni natti dubbatee,
tana godhe ani ammoo maan jedha ree?
Jiruun tiyya waan natti hadhootteef
bara jiruu tiyyaa mara

* **38:14** Sinbirree doogo'oo: Sinbirreen kun ka bara durii Gujiin faroo hima jedhu fakkaata.

- gad ifi qabee tiradha.
- ¹⁶ Ee Mootii Waan Maraa,
kolbaan jecha keetii fi waan ati gootuun leeti;
ayyaanni kiyyalle tanaan jiruu dhaggata;
ati na fayyittee, akka le'u na goote.
- ¹⁷ Dhugumaan wonni ani rakkadhee farreef,
bu'aa tiyyaaf.
- Ati boolla badi'ii irraa na eedde;
cubbuu tiyya mara naaf lakkitte.
- ¹⁸ Qileen si hin galateeffattu;
duuti si hin leellifattu;
worri du'e addatamummaa teetitti addii hin godhatu.
- ¹⁹ Akkuma ani si leellifadhu,
worri jiru'uun jiru si leellifatan;
addatamummaa teeti
abbootiin ijoollee ifiititti hin himan.
- ²⁰ «Mootiin Waan Maraa na hin fayyisa;
tanaaf bara jiruu teennaa mara
meya faaru'uutiin
Galma Mootii Waan Maraa keessatti faarfanna» jedhe.
- ²¹ Isaayaas, «Midhaan harru'uu irraa xaltaa huja'aatii,
iita Hisqiyaasii irra keya'a; innille hin fayya» jedheeraayyu.
- ²² Hisqiyaasille, «Ani gara Galma Mootii Waan Maraa
akka ol bayu beessisi maan?» jedhee gaafateeraayyu.

39

Ergantoota Baabylon Irraa Dhutte (2 Mot. 20:12-19)

- ¹ Yennaa san mootiin Baabylonii ilmi Baladaanii Merodaak-Baladaan,
Hisqiyaas dhibamee akka fayye dhage'ee, xalaya'aa fi kennansa isaaf erge.
- ² Hisqiyaas ergantoota san gammadaan fudhatee, karra mana karri
mootumma'aa keessatti kuufame keessa jirtu mara meetii, worqii, ud-
dowaa adda addaa, fiqiree gatii guddo'oo, mana meya woraanaa ka karra
mana mootumma'aatii fi karra mootummaa isaa keessatti dhaggantu mara
tokkolle adoo hin hamburin isaanitti mudhise.
- ³ Achiin duuba raagichi Isaayaas gara Hisqiyaasii mootichaa dhagee,
«Worri kun maan si'iin jedhane? Isaan eessaa dhufane?» jedhee gaafate;
Hisqiyaas deebisee, «Isaan biyya fago'oo Baabylon irraa dhufane» jedhe.
- ⁴ Maarre Isaayaas, «Isaan mana mootumma'aa keeti keessatti maan dhag-
gane?» jedheen.
- Hisqiyaas deebisee, «Isaan waan mana mootumma'aa kiyya keessaa mara
dhagganeeran; karra tiyya keessaa wonni ani isaanitti hin mudhisin tokkolle
hin jiru» jedhe.
- ⁵ Achiin duuba Isaayaas mootichaan, «Jecha Mootii Waan Maraa Ka Waan
Mara Dadee dhage'i!
- ⁶ Mootiin Waan Maraa, «Karri mana mootummaa teeti keessaatii fi karri
abbootiin teeti ta durii haga adhaa wolitti qabatte marti gara biyya Baa-
bilonii guyyaan fudhatamanu hin dhufa; wonni tokkolle si'iif hin hafu.
- ⁷ Ilmaan teeti ta uumattu keessaa gariin gara biyya Baabylonii hin fudhata-
man; mana mootummaa mootii Baabylonii keessatti guneessota te'anee hin
tajaajilan» jedha» jedhe.

⁸ Achiin duuba Mootichi Hisqiyaas, «Haga ani jiru nageennii fi gabbiin hin te'a» jedhee waan yaadateef, Isaayaasiin «Jechi Mootii Waan Maraa ka ati dubbatte dansa'a» jedhe.

40

Jecha Addi'ii

- ¹ Waaqi keessan, «Jajjabeessa'a;
kolbaa tiyya jajjabeessa'a!
- ² Gadhi-laafumma'aan
Kolbaa Yerusaalemiititti dubbadha'aatii,
itti lallaba'a;
barri garbummaa isaanii dhumateera;
gatii cubbuu ifi maraaf,
harka Mootii Waan Maraa irraa
adabbii dachaa lama fudhataneeran» jedha.
- ³ Qoonqoon nama goomolee keessaa lallabu tokkoo,
«Goomolee keessatti
karaa Mootii Waan Maraa qopheessa'a;
Gammoojjii keessatti
karaa guddaa Waaqa keennaaf qajeelcha.
- ⁴ Dhooqi martinuu hin guutti;
koobii fi gaarri martinuu hin diriiran.
Latti bu'aa bayiin hin qajeelti.
Latti kattattaan wol hin qixxootti.
- ⁵ Achiin duuba ulfinni Mootii Waan Maraa hin mudhata;
Mootiin Waan Maraa ifumaafuu waan dubbateef,
nami marti tana hin dhagga» hin jedha.
- ⁶ Qoonqoon takka, «Iyyi» naan jette.
Anille, «Maan jedhee iyya?» jedhee gaafadhe.
Qoonqoon sun, «Nami marti akka marraa ti;
ulfinni isaanii marti akka daraaraa diida keessaa ti.
- ⁷ Yennaa Mootiin Waan Maraa hafuura itti baafatu,
marri hin qoora;
daraaraalle hin harca'a;
dhugumaan kolbaan akka marraa ti.
- ⁸ Marri hin qoora;
daraaraalle hin harca'a;
jechi Waaqa keennaa ammoo,
haga bara baraa jabaatee le'a» jette.
- ⁹ Ee isin worri Xiyoontitti oduu gammadaa hintanu,
gaara dheera'atti ol baya'a.
Ee isin worri Yerusaalemitti oduu gammadaa hintanu,
qoonqoo teessan ol-qabadha'aatii iyya'a;
qoonqoo teessan ol qabadha'a, hin sodaatina'a!
Qachoota Yihuda'aatiin,
«Waaqi keessan kunoo ti!» jedha'a.
- ¹⁰ Kunoo, Gootaan Mootiin Waan Maraa,
hunnaan hin dhufa;
irree ifitille'een hin bulcha.

Kunoo, gatiin inni kennu,

harka isaa jirti;

waan kaffalu ifi duraa qaba.

- ¹¹ Inni akka tisse'ee, hoolee ifii hin tissa;
 inni akka ilmoolee hoole'ee
 harka ifitiin wolitti qabaa, habbaarata;
 haadhotii ilmoole'ee malaan soorressa.

Ka Waaqaan Wol Qixxowu Eennu

- ¹² Bisaan ooboo harka ifitiin ka safare,
 yookiin ol-gubbaa taakkuu ifitiin ka mike* eennu?
 Yookiin eentu biyyee kollonjo'otti naqee fixuu dande'a?
 Eentu gaarotaa fi koobota madaala irra keyuu dande'a?
¹³ Eentu qalbii Mootii Waan Maraa hubatee,
 isatti gorsee isa barsiisuu dande'e?
¹⁴ Beekkumsa dhaggatiisaaf,
 Mootiin Waan Maraa eennu gorsa gaafate?
 Karaa qajeelaa eentu isa barsiise?
 Eentu beekkumsa isa barsiise?
 Yookiin eentu daandii hubatiisaa isatti mudhise?

- ¹⁵ Gosi biyya adda addaatu
 akka cophaa bisaanii ka sakkeelloo keessaa ti;
 isaan akka bukuu madaala irraa ti;
 kunoo, inni oddoolota akka bukuun kaatu hin kaasa.

- ¹⁶ Muki Libaanon keessaa
 ibidda addee ciinca'aatiif hin gewu;
 bineensoti achi keessaalle
 ciinca'aaf hin geyanu.

- ¹⁷ Gosi biyya adda addaa
 isa duratti womaa moti;
 isaan isa duratti
 waan tokkolle'etti hin laakkowamanu.

- ¹⁸ Waaqa eennuun wol fakkeessitan?

Yookiin fakkii tamiin wol fakkeessitan?

- ¹⁹ Waaqa dharaa, nama hujii harkaa beekutti boca;
 nami worqii baqisiisu worqii itti gonfa;
 haachaba meeti'iille itti seesa.

- ²⁰ Nami deegi kennansa akkasii kenniisaaf hin dandeenne,
 muka dafee hin hurroonne filata.
 Fakkii hin jinne dhaabbatiisaaf,
 ogeessa nama hujii harkaa beeku barbaadata.

- ²¹ Isin hin beennee ree?
 Isin hin dhageennee?

Durii jalqabee

isinitti hin himannee?

Biyyi lafaa haga dadantee

isin hin hubannee ree?

- ²² Inni biyya lafaatiin gubbaa

barcumaa mootummaa ifii irraa tee'a;

kolbaan biyya lafaa isa duratti akka korophiisaa ti;

Inni ol-gubbaa akka golla'aa hin diriirsa;

* **40:12 Mike:** Taakkuu meeqa akka teetu ilaale jechu'u.

- akka dunkaanii keessa le'anuulle hin dhaaba.
- 23 Inni gondaaltota akka womaa hin te'initti,
bulchitoota biyya lafaalle akka hin jirree godha.
- 24 Isaan akka biqiltuu
reefuu dhaabanteetii fi akka midhaan reefuu facaafamee,
adoo hiddi isaanii hin qabatin,
inni hafuura itti baafannaan goddeetii fi
akka hicaacee hobonbolattiin haxoottee ti.
- 25 Waaqi Woyyichi, «Ana eennuun wol fakkeessitan?
Ka na waliin wol qixxe'ee eennu?» jedha.
- 26 Ol jedha'aatii gara ol-gubba'aa ilaala'a;
urjoota tana mara eentu dade?
Inni akka loltootaa tokko tokkoon gad baasaa
isaan laakkowaa,
maqaa maqa'aan isaan mara waama;
inni hunna guddo'oo fi
jabeenna guddaa waan qabuuf
isaan keessaa tokkolle hin badu.
- 27 Ee Yaaqoob, ee Israa'el,
«Karaan kiyya Mootii Waan Maraa duraa dhokateera;
Waaqi haajaa kiyya naaf hin ilaalle»
jettee maaf gungunta?
- 28 Ati hin beennee? Ati hin dhageennee?
Mootiin Waan Maraa Waaqa bara baraa ti;
biyya lafaa duudii ka dade isa;
Inni ijjumaa hin dadhabu yookiin hin laafu;
eennulle hubantii isaa qorqoree bira gewuu hin dande'u.
- 29 Inni worra laafeef
jabeenna hin kenna;
worra dadhabeef hunna hin ede'a.
- 30 Ijoolleen hin dadhaddi; hin laattille'e;
dargaggootille gufattee hin jiddi.
- 31 Worri Mootii Waan Maraa addatu ammoo,
hunna ifii hin haareffatan.
Isaan akka risa'aa koolaan hin ka'an;
hin rukkisan; hin laafanu; hin ideeman; hin dadhabanu.

41

Waaqi Israa'el Hin Qarqaara

- 1 Mootiin Waan Maraa,
«Isin worri oddoola keessaa, na duratti cadhisa'a!
Gosi biyya adda addaa jabeenna ifii haareffattee,
gara kiyya dhikaattee dubbattuu ti;
addee mura'aatitti wol dhagginuu ti.
- 2 «Balchumma'aan akka tajaajiluuf,
karaa aduun baatu irraa
kakkaasee ka isa waame eennu?
Inni gosa biyya adda addaa dabarsee isatti kenne;
moototi akka isaaf bitamanu godhe.
Innille shallaagaa ifitiin akka buku'uu isaan godhe;
guubee ifiitille'een
akka qilleensa hicaacee haxowuu

- isaan bittinneesse.
³ Inni isaan ari'aa, rakkoo malee dabare;
 karaa miilli isaa gara irra ideemee hin beenne deeme.
⁴ Tun akka teetu ka godhee fi ka muummesse,
 Jalqabumaayyuu dhalooti marti
 akka jiraatanu ka godhe ennu?
 Ani Mootiin Waan Maraa ka dhaloota duraatii fi
 dhaloota duubaa wolille'een jiru,
 ani isuma.
- ⁵ «Kolbaan oddoolota keessa leetu
 waan ani godhe kana dhaggitee sodaatte;
 worri qaccee biyya lafaa jirulle romme;
 isaan wolitti qabamanee gara kiyya dhufane.
⁶ Isaan marti wol hin qarqaaran;
 nami tokko nama kaaniin, «Jabaadhu!» hin jedha.
⁷ Nami hujii harkaa beeku
 nama worqii baqisiisu hin jajjabeessa;
 ka burrisaan wol qixxeessu,
 ka boraatii irratti sibiila tumu jajjabeessa.
 Inni hujiin sibiila wolitti qassiisiisaa
 tun, «Dansa'a» jedha;
 fakkiin sun akka hin jinneef
 misimaaraan dhowa.
- ⁸ «Ee Israa'el, tajaajilaa kiyya,
 Yaaqoobii ani filadhe,
 ati sanyii Abrahaamii jaala kiyyaa ti.
⁹ Ani qaccee biyya lafaatii si fide;
 biyya fago'oo irraa si waame;
 ani si'iin, «Ati tajaajilaa kiyya» jedhee,
 si filadhe malee, si hin ganne.
¹⁰ Ani si waliin waan jiruuf hin sodaatin!
 Ani Waaqa keeti waan te'eef hin rifatin!
 Ani si hin jabeessa; si hin qarqaara;
 harka kiyya middicha balchichaan ol si hin qaba.
- ¹¹ «Kunoo, worri sitti aare martinuu
 hin fukkifata; hin qaanowalle'e.
 Worri si irratti ka'u
 akka hin jirre te'anee hin badan.
¹² Ati diinota keeti yoo barbaaddelle,
 isaan hin dhaggitu;
 worri si lolu akka waan hin jirree hin te'an.
¹³ Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keeti,
 ka harka keeti middicha qabee,
 «Hin sodaatin; ani si qarqaara» jedhu.
¹⁴ Mootiin Waan Maraa keeti ka si wodu,
 Woyyichi Israa'elii,
 «Ani waan si qarqaaruuf,
 ee Yaaqoobii dadhabaa akka corroqaa,
 Israa'elii kolbaa diqqoo tana, hin sodaatin» jedheera.
¹⁵ Kunoo, ani meya midhaan ittiin dhowanu,

- haareya qara qabuu fi
 ka ilkaan hedduu qabu si hin godha.
 Ati gaarota irra sirbitee hin butuchita;
 koobotalle akka hicaace'ee hin goota.
- ¹⁶ Ati isaan hin hafarsita;
 qilleensi isaan ol fudhata;
 bubbeelle isaan hin bittinneessiti.
 Ati ammoo Mootii Waan Maraatitti hin gammadda;
 Woyyicha Israa'eliitiin hin koorta.
- ¹⁷ Worri hiyyeeyyi'ii fi worri rakkataan,
 bisaan hin barbaadatan;
 ammoo hin dhaggatanu;
 arrabi isaanii dheebu'uun gogeera.
 Ani Mootiin Waan Maraa ammoo
 daadimata isaaniitiif deebii hin kenna;
 ani Waaqi Israa'elii isaan hin lakkisu.
- ¹⁸ Ani koobota godduu irraa lagi akka yaa'u;
 dhooqa keessaa maddi akka burqu hin godha.
 Goomolee gara baleessaa,
 lafa godduu gara maddaa hin deebisa.
- ¹⁹ Ani goomolee keessatti birbirsi,
 muki gololchaa, muki bisile'ee fi ejersi
 akka latanu hin godha.
 Gammoojjii keessalle'etti
 hindheensii fi muki hindheensa fakkaatu
 ka adda addaa akka woliin dhaabamanu hin godha.
- ²⁰ «Maarre kolbaan marti waan kana dhaggitee hin beetti; harki Mootii
 Waan Maraa tana akka godhee fi Woyyichi Israa'elii tana akka dade nami
 marti qalbeeffatee hin hubata» jedhe.
- Mootiin Waan Maraa waaqota dharaa Hin Morma*
- ²¹ Mootiin Waan Maraa, mootichi Israa'elii, «Haajaa keessan dhikeef-
 fadha'a! Falmii teessanille himadha'a!
- ²² «Waan gara duraa te'uuf jiru
 akka nutti himanuuf,
 waaqota dharaa keessan as fida'a;
 nuuti akka qalbeeffannuuf,
 muummee isi'ii akka beennuuf,
 waan tanaan qara te'eeru
 yookiin waan gara duraa te'uuf jiru nutti hima'a.
- ²³ Akka isin waaqota teetane akka beennuuf,
 me waan ammaa achi te'u nutti hima'a.
 Nuuti rifannee akka sodaannuuf,
 waan dansaa yookiin waan hantuu huja'a.
- ²⁴ Isin womaayyuu moti;
 hujiin teessanille ijjumaa bu'aa hin qaddu;
 nami isin waaqonfatulle ka diqatame.
- ²⁵ «Ani kaaba irraa nama tokko kakkaaseera;
 innille hin dhufa;
 gara aduun baatuun ka dhufu
 ka maqaa kiyya waammatu,
 Inni akkuma nami faara dhowu

- biyyee faaraa dhidhiitu,
bulchitoota akka dhoqqe'ee hin dhidhiita.
- 26 Nuuti waan kana akka beennuuf,
ka duraan dursee dubbate eennu?
Nuuti, «Inni dhugaa jedhe» akka jennuufille,
ka dur dubbateeru eennu?
Eennulle hin dubbanne.
- Nami waan kana dubbate tokkolle hin jiru;
jecha keessan ka dhage'e tokkolle hin jiru.
- 27 Duraan dursee Xiyooniin, «Ilaa, kunoo,
isaan dhufiisatti jiran» jedhee ka hime ana;
Yerusaalemille'eef ergamaa oduu gammadaa himu
ka erge ana.
- 28 Ani gara waaqota dharaa yennaa ilaalu,
isaan keessaa gorsa ka kennu hin jiru;
yennaa ani isaan gaafadhulle
ka deebii naaf kennu hin jiru.
- 29 Kunoo, waaqoti dharaa kun marti dhara;
waan tokkolle godhuu hin dande'anu;
fakkiin isaaniille qilleensa duwwa'a» jedha.

42

Tajaajilaa Mootii Waan Maraa

- 1 Mootiin Waan Maraa, «Tajaajilaan kiyya
ka ani ol qabee fi ka ani filadhe,
ka ani itti gammadu kana.
Ani ayyaana kiyyaan isa hin guuta;
inni gosa biyya adda addaatiif haqa hin fida.
- 2 Inni hin iyyu yookiin qoonqoo ifii ol hin qabatu;
qoonqoo ifille karaa irratti hin dhageessisu.
- 3 Inni shonbooqqoo dhodhootelle hin cassu;
ifa dhaamiisa geyelle hin dhaanfu;
inni addatamumma'aan haqa hin fida.
- 4 Inni haqa biyya lafaa irratti
haga fidutti,
hin dadhabu, addiille hin kutatu.
Worri oddoola keessa le'u
seera isaa addii godhatan» jedhe.
- 5 Mootiin Waan Maraa
Waaqi ol-gubbaa dadee diriirse,
biyya lafaatii fi
waan isii keessa jiru mara ka dade,
lafa tana irratti namootaaf hafuura ka kenne,
worra lafa irra le'u maraafille jiruu ka kenne,
- 6 «Ani Mootiin Waan Maraa
balchumma'aan si waameera;
ani harka si qabee, si eega;
kolba'aaf gondoоро,
gosa biyya adda addaatiif
ifa akka teetu si godheera.
- 7 Ila worra balla'aa akka bantu,
worra hidhame akka hiittu,

worra dukkana mana hidha'aa keessa jirulle
akka baattu si godha.

- 8 «Ani Mootii Waan Maraa ti;
maqaan kiyya isuma kana;
ani ulfinna kiyya waaqota dhibi'iif,
leellisa kiyyalle waaqota dharaatiif hin kennu.
9 Kunoo, wonni dur dubbatante muummotteerti;
ani waan haareya isinitti dubbadha;
adoo isiin hin te'in isinitti beessisa» jedhe.

Faaruu Leellisaa

- 10 Isin worri abbaayaa irra ideentanu,
isin dadi achi keessa leetanu marti,
isin worri oddoola keessaa
ka achi leetanu marti,
faaruu haareya Mootii Waan Maraatiif faarsa'a;
haga qaccee lafaatille'etti isa leellifadha'a.
11 Goomole'ee fi qachooti achi keessa jiranu,
qoonqoo ifii ol qabatanuu ti;
worri Qedaar keessa le'u,
isa leellisanuu ti;
Worri qachaa Selaa keessa le'u
gammadaan faarsuu ti;
worri gaara gubba'aalle ilillisuu ti.
12 Isaan Mootii Waan Maraatiif
ulfinna kennanuu ti;
leellisa isaalle
worra oddoola keessaatitti lallabanuu ti.
13 Mootiin Waan Maraa
akka nama hunnaamessaa hin duula;
akka nama gootaa hinaaffaan isaa
isa keessaa hin kakkaati;
inni qoonqoo guddo'oon geerarsa lolaa hin geerara;
diinota ifille hin injifata.
14 Mootiin Waan Maraa,
«Ani yenna hedduu cadhisee,
sarmee, ifi qabadhe;
amma ammoo akka dubartii ciniinsifattuu
hin iyya, ittanaa, hin hargana.
15 Ani koobotaa fi gaarota hin onsa;
waan isaan irratti late mara hin gossa.
Laga oddoola hin godha;
baleessalle hin gossa.
16 «Worra ballaa karaa isaan hin beenne irra,
daandii dur isaan deemanee hin beenne irra,
ani isaan hin soorressa;
ani isaan duratti dukkana ifa hin godha;
daandii kattattaalle wol hin qixxeessa.
Ani tana isaaniif hin godha;
isaan hin lakkisu.
17 Worri waaqota dharaatitti addattu,
ka fakki'iin, «Isin waaqota keenna» jedhu,
deebi'anee hin qaanowan.

Israa'el Mootii Waan Maraa Caqasuu Didde

- 18 «Isin worri duudaan dhage'a'a!
Isin worri ballaan ilaala'aa, dhagga'a!
19 Tajaajilaa kiyya malee, ballaan eennu?
Ergamaa ani erge malee,
duudaan eennu?
Ka akka nama ifi naaf kennee,
yookiin ka akka tajaajilaa kiyyaa ballaan eennu?
20 Ee Israa'el, isin waan hedduu dhaggitaneertan;
ammoo hin qalbeeffanne;
gurri keessan bana'a;
ammoo waan tokkolle hin dhageettanu» jedhe.
21 Mootiin Waan Maraa balchummaa ifitiif jedhee,
seera ifii gudda'aa fi
ka ulfinna qabu godhiisa jaalate.
22 Kolbaan tun ammoo, saamantee booji'anteerti;
isaan marti boolla keessatti qabamanee,
manni hidha'aa isaanitti cufameera;
isaan saamamaneeran;
nami isaan baasu hin jiru;
isaan booji'amanee; ka, «Isaan deebisa'a!» jedhu hin jiru.
23 Isin keessaa tana ka caqasu eennu?
Waan dhufu'uu jirulle eentu dhage'ee, qalbeeffata?
24 Yaaqoob worra saamutti dabarsee ka kenne eennu?
Israa'el worra booji'utti dabarsee ka kenne eennu?
Mootii Waan Maraa ka nuuti fuula isaa duratti
cubbuu hunye sanii motii ree?
Nuuti karaa isaa hin hordonne;
seera isaatiifille hin ajajanne.
25 Tanaaf inni aarii ifi ta bobeettuu fi
woraana hamaa nutti fide.
Inni bobe'a ibiddaatiin nu marse;
nuuti ammoo hin hubanne;
bobe'i ibiddaa nu gube;
nuuti ammoo hin qalbeeffanne.

43*Waaqi Kolbaa Ifi Hin Woda*

- 1 Amma ammoo, ee Yaaqoob, ka si dade,
ee Israa'el, ka si huje,
Mootiin Waan Maraa,
«Ani waan si wodeef hin sodaatin;
ani maqa'aan si waameera, ati kiyya.
2 Yennaa ati bisaan keessa dabartu
ani si woliin hin jiraadha;
yennaa ati laga gamatti buutu
bisaan si hin fudhatu;
ibidda keessa yennaa ideentu hin gubattu;
bobeenni ibiddaalle si hin gubu.
3 Ani Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti,
Woyyichi Israa'elii
fayyisaa keeti.

- Ani Gibxii wodoo teetiif,
 Itoophiya'aa* fi Saabaa addee teeti hin kenna.
 4 Ati na duratti gatii guddo'oo fi
 ulfinna waan qadduuf,
 ani waan si jaaladhuufille addee teeti kolbaa,
 addee lubbuu teetii gosa biyya adda hin kenna.
 5 Ani si woliin waan jiruuf hin sodaatin!
 Ani ijoollee teeti karaa aduun baatu irraa hin fida;
 karaa aduun seentulle'e isin
 wolitti hin qaba.
 6 Ani biyya kaabaatiin, «Kolbaa tiyya fida'a!»
 Biyya kibbaatille'een,
 «Isaan hin dhooggina'a!» hin jedha;
 ilmaan tiyya biyya fago'oo irraa,
 ijoollee tiyya ta durraa qaccee biyya lafaatii fida'a.
 7 Kolbaa maqaa kiyyaan waamante mara,
 ta ani ulfinna kiyyaaf dadadhe,
 ta ani bifa itti tolchee huje fida'a!» hin jedha.

Israa'el Dhugaa Baatota Mootii Waan Maraa Ti

- 8 Mootiin Waan Maraa, «Kolbaa tiyya ila adoo qadduu ta hin dhaggine,
 gurra adoo qadduu ta hin dhageenne fida'a.
 9 Gosi biyya adda addaa marti wolitti qabantuu ti;
 kolbaan marti wolitti dachaatu ti.
 Isaan keessaa duraan dursee tana ka nutti hime,
 waan dur te'eeru ka nutti lasse eennu?
 Worri dhibiin dhage'ee,
 «Tun dhuga'a» akka jedhu,
 sirrii akka te'ane mirkaneessiisaaf,
 dhugaa baatota dhikeeffatanuu ti.
 10 «Isin beettanee,
 akka natti dhugeeffattanu,
 tana ka godhe ana Waaqa dhuga'aa akka te'e
 akka hubattanu,
 isin kolbaan Israa'elii,
 dhugaa baatota tiyya;
 tajaajilaan ani filadhelle isinuma;
 Anaan qara waaqi dhibiin hin jiru;
 anaan duuballe hin jiraatu.
 11 «Anumattuu Mootii Waan Maraa ti;
 ana malee fayyisaan dhibiin hin jiru.
 12 Ani duraan dursee himeera;
 isin fayyiseera;
 isinitti dubbadheera;
 waaqoti ormaa odduu teessanitti
 tana hin goone.
 Ani Waaqa akka te'e
 isin dhugaa baatota tiyya.
 13 Ani duruuyyuu Waaqa;
 gara duraalle ka jiraatu anuma.

* 43:3 Itoophiyaa: Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali.

Eennulle harka kiyya keessaa bawuu hin dande'u;
waan ani huju eentu jijjiiruu dande'a?» jedhe.

Israa'el Baabylon Jalaa Baate

- ¹⁴ Mootiin Waan Maraa ka isin wode, Woyyichi Israa'elii,
«Ani marroo teessaniif jedhee
loltoota tiyya Baabylonitti hin erga;
karra qachaa Baabylonii mara hin caccassa;
geerarsa worra Baabiloniille bowatti hin jijjiira.
- ¹⁵ Ani Mootiin Waan Maraa Woyyichi keessan,
ka Israa'el dade,
mootii keessan» jedha.
- ¹⁶ Mootiin Waan Maraa abbaayaa keessatti karaa,
bisaan jabaa keessatti daandii ka baase,
¹⁷ garreettota fardo'oon harkifamuu fi fardoo,
loltootaa fi gootota deebi'anee akka hin kaane,
achumatti akka hafanu,
akka bobe'a dhaamuu ka dhaanfe,
¹⁸ «Waan durii dedha'a;
waan dabare hin yaadina'a.
- ¹⁹ Kunoo, ani waan haareya hin godha;
isiin ammuma hin teeti;
isin hin hubatanuu?
- Ani goomolee keessatti karaa,
lafa godduu keessalle'etti bisaan hin baasa.
- ²⁰ Ani kolbaa tiyya ta filadhe obaasiisaaf,
gomolee keessatti bisaan,
lafa godduu keessalle'etti
lagi akka yaa'u waan godhuuf,
bineensoti, jeedalli fi guchiin
ulfinna naaf hin kennan.
- ²¹ Kolbaan ani ifiif dadadhelle
na hin leellifatti» jedha.

Cubbuu Israa'elii

- ²² Mootiin Waan Maraa, «Ee Yaaqoob, ati na hin waammanne;
ee Israa'el, ati na tajaajiliisa dadhaddeerta.
- ²³ Ciincaa naaf dhikeessiisaaf
hoolee naaf hin finne;
ciincaa teetille'een
ulfinna naaf hin kennine.
- Kennansa midhaanii akka naaf dhikeessitu,
ani ba'aa si'itti hin teene;
hixaana akka naaf aarsituufille
si hin dadhassiinne.
- ²⁴ Beesee teetiin dakkara naaf hin binne;
yookiin ciincaa coomaa teetille'een
dharraa na hin baanne;
ammoo cubbuu teetiin ba'aa natti teetee,
yakkaa teetiin na dadhassiiite.
- ²⁵ Ka ifumaaf jedhee,
yakkaa teeti si irraa balleessu anuma;
ani cubbuu teeti
deebi'ee si irratti hin laakkowu.

- 26 «Waan si godhe himadhu me!
Waan kana wol falmannuu ti;
sirrii akka teete himi.
- 27 Abbaan keeti ka qaraa cubbuu hujeera;
namooti si'iif dubbatanulle
na finqilaneeran.
- 28 Tanaaf ani qondaaltota
Galma keessaa hin salphisa;
Yaaqoob ijjumaa balleessee,
Israa'el hin qaanessa» jedha.

44

Mootiin Waan Maraa Waaqi Isa Qofa

- 1 Mootiin Waan Maraa, «Ee tajaajilaa kiyya Yaaqoob,
Israa'elii ani filadhe,
na dhage'i» jedha.
- 2 Ka si dade,
gadaamessa haadha teetii keessatti
ka si huje, ka si qarqaaru,
Mootiin Waan Maraa, «Ee tajaajilaa kiyya Yaaqoob,
Yeshuuruunii ani filadhe, hin sodaatin.
- 3 «Ani lafa dheebisaa irratti bisaan baasee,
lafa godduu irralle lagi akka lola'u hin godha;
Ani sanyii teeti irratti Ayyaana kiyya,
ijoollee ijoollee teeti irralle'etti
eebba kiyya hin dhangalaasa.
- 4 Isaan akka marra bisilee diida keessaa
akka muka irga lagaa yennaa mara hin bisilan.
- 5 «Kolbaan tokko tokkoon, yaatee dhuttee,
nami tokko, «Ani ka Mootii Waan Maraa ti» hin jedha.
Kuun, maqaa Yaaqoobiitiin ifi hin waama;
ka dhibiin, «Ani ka Mootii Waan Maraa ti» jedhee,
harka ifii irratti hin barreeffata;
maqaa Israa'eliitiin ifi hin waama» jedha.
- 6 Mootiin Waan Maraa mootichi Israa'elii
ka Israa'el wode,
Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade,
«Ka duraatii fi ka duubaalle ana;
ana malee Waaqi dhibiin hin jiru.
- 7 Ka akka kiyyaa eennu?
Yoo jiraate dubbatuu ti.
Inni haga ani dur namoota dadeen jalqabee,
waan te'e, waan dhufu'uu jirulle na duratti himuu ti.
- 8 Hin sodaatina'a; hin nayina'a!
Ani tana isinitti hin hinnee ree?
Durseelle isinitti hin beessinnee ree?
Isin dhugaa baatota tiyya.
Ana malee Waaqi dhibiin jiraa ree?
Ana malee rasaan dhibiin hin jiru;
ani eennulle hin beeku» jedha.

Waaqoti Dharaa Bu'aa Hin Qabanu

⁹ Worri waaqota dharaa hujanu marti womaayyuu moti; wonni isaan itti gammadanu sunille bu'aa hin qaddu. Worri isaaniif dhugaa bayu balla'a; beekkumsa hin qabanu; hin qaanowanille'e.

¹⁰ Eentu waaqa bocatee, waaqa dharaa ka isaaf wo hin baane baqisiifatee hujata ree?

¹¹ Kunoo, worri isaan waaqonfatu marti hin qaanowa. Worri waaqota dharaa san huju namuma; isaan marti wolitti qabamanee, fuula kiyya dura dhaabbatanuu ti. Isaan nayanee, hin qaanowan.

¹² Nami sibiila tumu, qarapha'aan qabee, kashila cile'ee keessa keyee, irree ifii jaddu'uun burrisaan tumee waaqa dharaa bifa itti godha. Inni yennaa waan kana huju hin beelowa, hin dheebota, hin dadhaba.

¹³ Nami muka bocu muka wodaro'oon mikee, fakkii namaa cile'een irratti kaasee, ura'aan qiriixa; fakkeenaa namaatiin seese hujee mana ifii keessa keyata.

¹⁴ Inni tana godhiisaaf muka hindheensaa hin mura; birbirsaa fi muka qilxa'aa filee, mukoota gongomaa keessaa waliin akka guddatanu hin lakkisa yookiin hindheensa dhaabee bokkeenni guddisa.

¹⁵ Muki sun qoraaniif te'a; gamisa muka sanii bobeessee hin qanqaam-mata; gamisa bobeessee, daabboo itti bilcheeffata; gamisa ammoo waaqa bocatee, hin waaqonfata; kaan waaqa dharaa bocee itti sagada.

¹⁶ Inni qoraan gamisa ibiddatti naqee, bobeessee sagalee itti bilcheeffata; foon itti woddatee, haga quufutti hin nyaata. Ibidda qanqaammatee, «Hashuu! Ibidda dhaggadhee, O'ifadhe!» hin jedha.

¹⁷ Muka hafe irraa, waaqota dharaa hujee itti hin sagada; hin waaqonfalle'e; gara isaa daadimataa, «Ati waaqa kiyya, na fayyisi» jedha.

¹⁸ Namooti akkasii waan tokkole hin beekanu; waan tokkole hin hubatanu; akka isaan hin dhaggine, ilti isaanii qabanteerti; akka hin hubanne, qalbiin isaanii duuddeerti.

¹⁹ Marroo waan kanaa nami itti yaade hin jiru; nami tokkole beekkumsaa fi hubantii qabaatee, «Ani gamisa muka sanii bobeessee, kashila isaa irratti daabboo bilcheeffadhee, foon itti woddadhee nyaadheera. Muka hafeen waan battii hujaa ree? Turqumaa sanitti sagadaa ree?» ka jedhu hin jiru.

²⁰ Nami waan daadhaa te'utti addatu, nama qalbiin isaa dokonkortuun dokonkorsite; inni ifi fayyisuu hin dande'u; yookiin, «Wonni harka middicha kiyya irraa kun, waan dharaatii motii?» hin jedhu.

Mootiin Waan Maraa Kolbaa Israa'elii Hin Woda

²¹ Mootiin Waan Maraa, «Ee Yaaqoob, ee Israa'el, ati tajaajilaa kiyya waan teeteef, waan kana qaabadhu;

ani si dadeera; ati tajaajilaa kiyya;
ee Israa'el ani si hin dedhu.

²² Ani yakkaa teeti akka duumensaa,
cubbuu teetille akka hurrii ganamaa haxowee balleesseera;
ani waan si wodeef, gara kiyya deebi'i» jedha.

²³ Ee ol-gubba'a, Mootiin Waan Maraa tana waan godheef,
gammadaan faarsa'a;
ee qilee lafaa, ilillisa'a.

Gaaroti, badda'aa fi muki achi keessa jirtanu marti
Mootiin Waan Maraa Yaaqoob wodee,
Israa'el keessatti ulfinna ifii waan mudhiseef,
faaruu dayyaasa'a.

²⁴ Ka si wode,
 gadaamessa haadha teetii keessatti
 ka si huje,
 Mootiin Waan Maraa, «Ani Mootiin Waan Maraa,
 waan mara dadee,
 ol-gubbaa qofuma tiyya diriirsee,
 biyya lafaa tanalle badhise,
²⁵ ka beessisa raagota dharaatii fi
 worra moru gatii dhassiisee,
 qarummaa qaroolle'ee garagalchee,
 beekkumsa isaaniille gowwumma'atti ka deebisu,
²⁶ waan tajaajiltooti tiyya dubbattee fi
 raaga ergantoota tiyyaalle ka muummessu,
 Yersaaleemille'een, «Kolbaan deebitee si keessa hin leeti»,
 qachoota Yihuda'aatile'een,
 «Deebitanee hin ijaaratan;
 bututa keessanille hin haareessa» ka jedhu,
²⁷ abbaaya'aan, «Gogi;
 laga si keessaa hin gosa» ka jedhu,
²⁸ Qirosiin,
 «Inni tissee kolbaa tiyyaa ti;
 inni fedha kiyya mara hin muummessa» ka jedhu,
 Yersaaleemiin, «Deebitee ijaarantuu ti» ka jedhu,
 Galma Waaqaatile'een,
 «Hundeen isaa keyantuu ti» ka jedhu ana» jedha.

45

Mootiin Waan Maraa Qiros Mootii Godhe

¹ Mootiin Waan Maraa ka harka isaa middicha qabee,
 gosa biyya adda addaa akka inni harka ifii jala galfatuuf,
 mootota irraa meya woraanaa akka inni hiikuuf,
 karri qacha'aa akka isatti hin cufanneef,
 cufanaan isa duraa akka banamuuf,
 Qirosii akka mootii te'u muudeen,
² «Ani siin dura hin deema;
 gaarota dirree hin godha.
 Karra qacha'aa ta sageettuu irraa hujante hin caccassa;
 dangaraa sibiilaalle hin mura.
³ Ka maqaa keetiin si waame,
 ana Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii
 akka te'e akka ati beettuuf,
 ani qabeenna dukkana keessa jiruu fi
 durummaa addee dhossa'aatitti kuufante si'iif hin kenna.
⁴ Ati na beekuu dhaddulle,
 marroo tajaajilaa kiyyaa Yaaqoobii,
 Israa'elii filadheef jedhee,
 maqaa keetiin si waamee
 maqaa ulfinnaa
 si'iif kenneera.
⁵ Ani Mootii Waan Maraa ti;
 ana malee ka dhibiin hin jiru.
 Waaqi na qofa;

- ati na beekuu dhaddulle,
ani si hin jabeessa.
- ⁶ Namooti karaa aduun baatuu
haga karaa aduun seentuu
Mootiin Waan Maraa na qofa akka te'e,
ana malee ka dhibiin akka hin jirre
akka beekanuuf,
ani tana godhe.
- ⁷ Ani ifaa fi dukkana dade;
ani nageya hin buusa;
balaalle hin buusa;
ani Mootiin Waan Maraa tana mara godha.
- ⁸ Ee ol-gubba'a, gubbaa irraa balchummaa gad roobi;
duumensille balchummaa gad roobuu ti;
latti banantee, fayyinni latuu ti;
balchummaalle isa waliin guddattuu ti.
Ani Mootiin Waan Maraa tana mara dade» jedha.
- ⁹ Nama ka isa Dade waliin moromuuf aanne'e!
Inni akka faaraa
harka nama faara dhowu keessa jiruu ti;
faarri nama isa dhowuun,
«Ati maan hujaarta?» hin jedhaa ree?
Wonni inni dhowu sunille,
«Ati harka hin qaddu» hin jedhaa ree?
- ¹⁰ Mucaa abbaa ifitiin,
«Ati maaf na uumatte?»
Haadha ifitille'een,
«Ati maaf na deette?» jedhuuf aanne'e!
- ¹¹ Mootiin Waan Maraa Woyyichi Israa'elii ka isii dade,
«Marroo waan te'uu jiruu,
marroo ijoollee tiyyaa na gaafattanii ree?
Marroo hujii harka kiyyaalle
na ajajjani ree?
- ¹² Lafa dadee, namootalle isii irratti ka dade ana;
ol-gubbaa harka kiyyaan diriirsee,
urjoota ol-gubba'aalle ka ajaje anuma.
- ¹³ Ani balchumma'aan Qiros kaaseera;
karaa isaa duudiille qajeelcheera.
Inni qachaa kiyya deebisee hin ijaara;
worra na duraa booji'ame
gatii malee yookiin kaffaltii malee
bilisa hin baasa» jedha
Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade.
- ¹⁴ Mootiin Waan Maraa,
«Karri worra Gibxi'ii,
bu'aan daldala worra Itoophiya'aalle* si'iif hin te'a;
worri Saaba'aa dhedheeraan gara keeti dhufanee,
keeti hin te'an;
wodaroo sibiilaatiin hidhamanee, si gula hin deeman;
si duratti sagadaa, «Dhugumaan Waaqi si waliin jira;
isa malee Waaqi dhibiin hin jiru» jedhaa
si daadimatan» jedhe.

* **45:14** Itoophiyaa: Afaan Ibrootaatiin Kuushi jedha.

- 15 Ee Waaqa, fayyisaa Israa'elii,
ati dhugumaan Waaqa ifi dhossitu.
- 16 Worri waaqota dharaa hujatu marti
hin qaanowan; hin salphatan;
isaan marti wolumatti hin salphatan.
- 17 Mootiin Waan Maraa ammoo,
fayyinna bara baraatiin Israa'el hin fayyisa;
ee Israa'el, ati haga bara baraa hin qaanottu;
hin salphattulle'e.
- 18 Ka ol-gubbaa dade, inni Mootii Waan Maraa ti;
Inni lafa bifa itti godhee, jabeessee yennaa dhaabe,
akka irra le'anuuf malee, ona akka teetuuf hin danne.
Inni, «Ani Mootii Waan Maraa ti;
ana malee Waaqi dhibiin hin jiru.
- 19 Ani lafa dukkanaa keessaa, dhossa'aan hin dubbanne.
Ani sanyii Yaaqoobiitiin,
«Akkasumaan na barbaada'a» hin jenne;
ani Mootiin Waan Maraa dhugaa dubbadha;
waan sirrii te'e lassa.
- 20 «Isin worri gosa biyya adda addaa keessaa
badii irraa ka hattane,
wolitti qabama'aatii kowa'a; as dhikaadha'a.
Worri fakkii waaqota dharaa
Ka muka irraa hujante, ba'atee ideemuu fi
waaqa nama fayyisuu hin dandeenne daadimatu
beekkumsa hin qabu.
- 21 Haajaa keessan dubbadha'aatii dhikeeffadha'a;
wolitti qabama'aatii mari'adha'a.
Bara dheera'aan dura eennutti tana hime?
Duraan dursee eentu raage?
Ana Mootii Waan Maraatiin motii?
Ana malee, Waaqi balcha'aa fi fayyisaan
dhibiin hin jiru.
Ana malee ka dhibiin hin jiru.
- 22 «Ana malee Waaqi dhibiin waan hin jirreef,
isin worri qaccee biyya lafaa jirtanu marti,
gara kiyya deebi'a'aatii fayya'a!
- 23 Nami marti na duratti hin jilbiiffata;
arrabi martinuu anaan hin kakata;
jechi balchumma'aan afaan kiyya keessaa baye,
akka hin jijjiirane,
ani maqaa kiyyaan kakadheera.
- 24 «Namooti marroo tiyya, «Balchumma'aa fi jabeenni
Mootii Waan Maraa qofa biraa dhaggama» hin jedhan» jedhe.
Worri na mormu marti gara kiyya dhufanee hin qaanowan.
- 25 Sanyiin Israa'elii marti
ana Mootii Waan Maraatiin
balchumma'aa fi ulfinna hin dhaggatan.

46

Waaqota Worra Baabilonii

- ¹ Waaqoti dharaa ka worra Baabilonii,
Beelii fi Neboon hin salphatan;
waaqoti dharaa ka isaanii sun geejjibatti fe'amaneeran;
fakkiin isaan ba'atanee ideemanu sun ba'a'a;
geejjiba itti fe'amane sanille hin dadhassiisan.
- ² Isaan geejjiba san waliin hin gugguufan;
ifi fayyisuu hin dande'anu;
isaan hin booji'aman.
- ³ Mootiin Waan Maraa, «Ee sanyii Yaaqoobii,
isin sanyii Israa'elii keessaa worri hattane na dhage'a'a!
Gadaamessa haadha teessanii keessatti natti isin eege;
dhaloota keessaniin jalqabee
ka isin ba'ate ana.
- ⁴ Haga isin dulloontanee arrii baatanutti
ka isin ba'atu ana;
ani isin dadeera; isin hin ba'adha;
isin hin qarqaara; isin hin fayyisa.
- ⁵ «Ennuun na fakkeessitan?
Ennu waliin na wol qixxeessitan?
Yookiin akka wol fakkaannuuf,
ennu waliin na wol fakkeessitan?
- ⁶ Worri gariin worqii subba ifii keessaa baafatan;
meetiille madaala irratti madaalan.
Isaan nama worqii baqisiisu qaxaratanee,
inni waaqa isaaniif huja;
achiin duuba isaan waaqa san sagadane waaqonfatan.
- ⁷ Isaan waaqa san ol fuudhane, gormuu ifii irratti ba'atanee,
geessanee addee isaaf qophootte hin keyan.
Inni achuma dhaabbata malee, addee san irraa hin tacho'u;
yoo nami isatti iyyate, inni deebii hin kennu;
yookiin rakkoo keessaa nama hin baasu.
- ⁸ «Isin finqiltooti tana qaabadha'a!
Qalbii teessanille'etti qabadha'a.
- ⁹ Waan dur bara dheera'aan dura te'e qaabadha'a;
ani Waaqa;
ana malee Waaqi dhibiin hin jiru;
ka akka kiyyaalle hin jiru.
- ¹⁰ Ani waan muummee irratti dhufu'uu jiru
jalqaba irratti himeera;
waan gara duraa te'uu jirulle duruu himeera;
karoorti kiyya hin te'a;
waan godhiisaaf barbaade hin godha.
- ¹¹ Ani nama karoora kiyya muummessu
karaa aduun baatuu irraa hin waama;
inni akka risa'aa biyya fago'oo irraa hin dhufa.
Ani waan dubbadhe hin godha;
karoora kiyyalle hin muummessa.

- 12 «Isin worri gadhaa jabaattane,
ka balchummaa irraa fagaattane na caqasa'a.
- 13 Ani balchummaa tiyya fidiisatti jira;
isiille fagoo hin jirtu;
fayyisiis kiyya hin turu;
ani Xiyooniif fayyinna,
Israa'eliif ulfinna hin kenna.

47

Jinnana Baabilonii

- 1 «Ee durrittii Baabilonii,
gad bu'iitii bukuu irra tee'i.
Ee durrittii Baabilonii,
barcumaa mootummaa teetii irraa ka'iitii, lafa irra tee'i;
ati haganaa achi,
«Bosogqee yookiin shaggittii» hin jedhantu.
- 2 Shaashii teeti ta hagooggatte ifi irraa fuudhiitii,
daakuu fudhadhuutii midhaan daaki;
woyaa teeti ifi irraa shooqadhuu
sarbaa teeti mudhisaa,
laga gamatti bu'i.
- 3 Qullaa jirtuun kolbaan si hin dhaggiti;
nafi hilaa keeti hin mudhata;
Ani haluu hin baya; nama tokkolle hin hamburu» jedhe.
- 4 Ka nu wodu Woyyicha Israa'elii,
maqaan isaa Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dade.
- 5 Mootiin Waan Maraa Baabiloniin,
«Ee intala Baabilonii,
dhaqiitii, cadhisii dukkana keessa tee'i.
Haganaa achi, «Giittii mootummoota» jedhantee hin waammantu.
- 6 Ani kolbaa tiyyatti aaree,
akka batti'iititti isaan laakkowee
harka keetitti dabarsee isaan kenne.
Ati isaaniif hin mararre;
ati worra dulloomettuu,
waanjoo ulfaattuu itti feete.
- 7 Ati, «Ani haga bara baraa giittii hin te'a» jette malee,
waan tolchite hin qaabanne;
muummee waan saniille hin beenne.
- 8 «Ee ati ta qananummaa jaalattu!
Ta bidhaa malee teettu,
gadhaa keeti keessatti,
«Ana malee nami dhibiin hin jiru;
ani ijumaa haadha hiyyeessaa hin te'u;
yookiin ijoolleen tiyyalle na duraa hin duutu» ta jettu dhage'i!
- 9 Ati xano'oo fi falfala hedduu qabaatulle,
duuti ijoolle'eetii fi haadha hiyyeessaa te'iis,
wonni lamaan kun dedhuma guyyaa tokkotti sitti hin dhufan.
- 10 Ati hammeenna keetitti addattee,
«Nami na dhaggu hin jiru» jette;

- Qarumma'aa fi beekkumsi keeti si dokonkorsee,
gadhaa keeti keessatti,
«Ani anuma; ana malee nami dhibiin hin jiru» jette.
- ¹¹ Wonni hantuun ati xano'oon ifi irraa fageessiisa hin dandeenne
sitti hin dhutti;
balaan ati ifi irraa dhooggatiisa hin dandeenne
sitti hin dhufa;
badiin ati hin beennelle dedhuma sitti hin dhutti.
- ¹² «Xano'oo fi falfala keeti
ka ijoollummaa teetiin jalqadde, itti fufi.
Akka wotoo si'iif hin milkootti
yookiin diinota keeti sodaachisiisaaf
si hin qarqaaran fa'a.
- ¹³ Gorsa bacaa dhage'iis si dadhassiiseera;
worri gubbaa qorqoru,
ka ji'uma ji'aan urjii ilaalee
waan gara duraa te'u himu,
gara duraa dhufee
waan sitti dhufu jalaa si baasuu ti.
- ¹⁴ Kunoo, isaan akka huuraa ti;
ibiddi isaan hin nyaata.
Isaan hunna bobbe'a ibiddaa san jalaa
ifi baasuu hin dande'anuu;
kashilli nami o'ifatu hin hafu yookiin
ibiddi bira tee'anee o'ifatanulle hin jiraatu.
- ¹⁵ Daldaltooti teeti ta ati ijoollummaa teeti irraa jalqaddee,
woliin elootte akkasuma.
Tokko tokkoon isaanii dokonkora ifitiin deeman;
nami si baasu tokkolle hin jiru» jedha.

48

Israa'elii Mataa Jabaattu

- ¹ Ee ijoollee Yaaqoobii,
ta, «Israa'el» jedhantanu,
worri sanyii Yihuda'aa keessaa dhalattane,
isin worri maqaa Mootii Waan Maraatiin kakattanuu,
dhuga'aa fi balchummaa'aan adoo hin te'in,
Waaqa Israa'elii ka waammattanuu, tana dhage'a'a.
- ² Isin, «Nuuti worra qachaa woyyicha keessa le'u;
worra Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii
Ka Waan Mara Dadetti addatu» ifiin jettanu.
- ³ Mootiin Waan Maraa,
«Waan dur bara dheera'aan dura te'e ani dursee himeera;
afaan kiyyal'een dubbadhee,
akka wonni sun beekkantu godheera;
ani dedhuma isin irratti hujee, wonni sun muummotte.
- ⁴ Isin worra mataa-jabaatu akka teetane ani beekeera;
morgey morma keessanii akka sibiilaa,
addi fuula keessaniille akka sageettu'uu ti.
- ⁵ Tanaaf, isin, «Waaqota dharaa keennatti tana huje;
fakkii teenna ta muka irraa bocantee fi
waaqa keenna ka sibiilaattitti tana ajaje» akka hin jinneef,

- ani dursee isinitti himeera.
⁶ Isin tana dhageettaneertan; isaan mara ilaala'a;
 wonni ani jedhe dhugaa akka teete,
 isin dhugaa hin baatanuu ree?
 Ammaan jalqabee waan haareya,
 waan dhossa'aa ka isin hin beenne ani isinitti hin hima.
⁷ Wonni kun amma dadamane malee,
 bara dheera'aan duraa moti;
 tanaan qara marroo waan kanaa dhageettanee hin beettanu.
 Maarre isin, «Nuuti marroo waan kanaa
 duruu beenna» jedhuu hin dandeettanu.
⁸ Isin dur tana hin dhageenne; hin beennelle'e;
 duruuyyuu gurri keessan hin bananne.
 Ani akka isin sobaaleyyii teetane,
 haga dhalataneen jalqaddanee
 finqiltoota akka teetane beekeera.
- ⁹ «Ani maqaa kiyyaaf jedhee,
 dafee hin aaru;
 kolbaan akka na leellifattuuf jedhee,
 isin balleessiisa irraa hin ossadha.
¹⁰ Kunoo, akka meetii ibiddaan qulqulleessanu adoo hin te'in,
 rakkoo akka ibiddaatiin haga isin ilaaleera.
¹¹ Ani ifumaaf, ifii tiyyaaf jedhee, tana hin godha;
 ani attam salphinnaaf ifi dabarsee kenna ree?
 Ulfinna kiyya eennulle'eef hin kennu.
- Israa'el Bilisa Hin Baati*
¹² Ee Yaaqoob, Israa'elii ani waammadhe,
 na caqasa'a!
 Ani Waaqa;
 ka duraatii fi ka duubaalle ana.
¹³ Harka kiyyaan hundee lafaa hundeesse;
 harki kiyya middichi ol-gubbaa diriirse;
 yennaa ani isaan waamu
 isaan marti adduma tokko ol ka'an.
- ¹⁴ «Isin marti wolitti qabama'aatii,
 na caqasa'a!
 Ka ani Mootiin Waan Maraa filadhe,
 karoora ani Baabylon irratti baase
 akka muummessu'uuf jiru,
 akki ani irree tiyya Baabylon irratti
 akka ani ol fudhatu'uu jiru,
 waaqota dharaa keessaa
 dursee ka hime eennu?
¹⁵ Anattuu dubbate; anattuu isa waame;
 ani isa hin fida; hujiin isaalle hin teetiif.
- ¹⁶ «Gara kiyya kowa'aatii, tana caqasa'a!
 Ani jalqabaanuu jalqabee dhossa'aan hin dubbanne;
 wonni ani dubbadhe
 yennaa muummottulle ani achuma jiraayyu» jedha.

Ammalle Gootaan Mootiin Waan Maraa

Ayyaana ifitiin na ergeera.

- 17 Mootiin Waan Maraa ka isin wodu,
Woyyichi Israa'elii,
«Ani Mootiin Waan Maraa Waaqa keessan,
ka waan dansaa akka gootanu isin barsiisu,
karaa isin deentanu ka isin soressu.
- 18 «Isin ajaja kiyya adoo eegattanee jiraattane,
silaa nageenni keessan akka laga guutee yaa'uu,
balchummaan teessanille
akka danbalii abbaaya'aa hin teetiiyyu.
- 19 Sanyiin teessan akka maansaa,
ijoolleen teessanille akka buku'uu hin bacattiiyyu.
Maqaan isaanii fuula kiyya duraa ijjumaa hin haxowamu,
yookiin hin badu.
- 20 «Biyya Baabilonii keessaa baya'a;
worra Baabilonii jalaa baqadha'a!
«Mootiin Waan Maraa tajaajilaa ifii Yaaqoob wodeera» jedha'aatii hima'a!
Ilillisaa odeessaa, haga qaccee lafaa lassa'a.
- 21 Yennaa ani goomolee keessa isaan sooresse,
isaan hin dheebonne;
ani rassaa keessaa bisaan isaaniif baase;
rassaa dhoosee bisaan achi keessaa dhuqatee baye.
- 22 «Worra hamaaleyyi'iif nageenni hin jiru» jedha.

49

Tajaajilaa Mootii Waan Maraa

- 1 Isin worri oddoola keessaa na caqasa'a!
Isin gosi biyya adda addaa ka fagoo jirtanu tana dhage'a'a!
Gadhaa haadha tiyyaa keessa adoo jiruu
Mootiin Waan Maraa na waame;
adoo ani hin dhalatin maqaa na baase.
- 2 Inni dubbii afaan kiyyaa
akka shallaagaa qaramee godhe;
gaaddisa harka ifii jalatti na golle;
daaya qarame na godhe;
gonofaa daaya ifii keessalle'etti na dhosse.
- 3 Inni anaan, «Ee Israa'el, ati tajaajila kiyya;
ani si'iin ulfinna kiyya hin mudhisa» jedhe.
- 4 Ani ammoo, «Toluma elowe;
hunna tiyyalle waan bu'aa hin qanne irratti fixadhe;
te'uu malee bu'aa hujii tiyyaa
Mootii Waan Maraatitti
naaf murteessa;
gatiin hujii tiyyaa
harka Waaqaa keessa jirti» jedhe.
- 5 Ani tajaajilaa isaa akka te'uuf,
Yaaqoob gara isaa akka fiduuf,
Israa'eloota akka isaaf wolitti qabuuf,

ka gadhaa haadha tiyyaa keessatti na dade,
 fuula ifii duratti ulfinna naaf kennee,
 ka jabeenna naaf te'e,
 Mootiin Waan Maraa ammalle,
⁶ anaan, «Ati gosa Yaaqoobii ade'etti deebisiisaaf,
 kolbaa Israa'elii worra jiru'uun hafe deebittee fidiisaaf,
 tajaajilaa kiyya te'iis keeti kaso'o.
 Fayyisiisa kiyya haga qaccee biyya lafaa
 akka dhaqqassiittuuf,
 worra Yihudoota hin te'iniifille
 ifa si hin godha» jedhe.

⁷ Mootiin Waan Maraa, Woyyichi Israa'el wodu,
 tajaajilaa bulchitootaa,
 ka nama gosa biyya adda addaatiin
 guddoo tuffatamee jibbameen,
 «Mootiin Waan Maraa addatamaan,
 Woyyichi Israa'elii waan si fileef,
 moototi si dhaggitee, ol si'iif hin kaati;
 qondaaltotille si dhaggitee si'iif hin sagaddi» jedhe.

Deebitee Ijaaramiisa Yerusaalemii

⁸ Mootiin Waan Maraa, «Yennaa na biratti fudhatama qaddutti
 ani deebii si'iif hin kenna;
 guyyaa fayyinna keetii ani si hin qarqaara;
 ani si eegee, kolba'aaf gondoosoo akka teetu hin godha;
 kolbaa adde'etti hin deebitta;
 lafa isaanii ta onte isaaniif hin deebitta.

⁹ Worra hidhameen, «Baya'a!»
 Worra dukkana keessa jiruun,
 «Ifatti baya'a!» akka jettu si hin godha;
 isaan irga kara'aatii hin nyaatan;
 kooba godduu mara irralle'ee sagalee hin dhaggatan.
¹⁰ Ani Mootiin Waan Maraa waan isaan mararfadhuuf,
 gara madda bisaaniille waan isaan sooressuuf,
 isaan hin beelotanu; hin dheebotanu;
 o'i goomole'ee yookiin adu'uu isaan hin miidhu.

¹¹ «Ani gaarota kiyya mara karaa hin godha;
 karaan guddaan kiyyalle isaaniif wol hin qixxawa.

¹² Kunoo, isaan biyya fago'oo irraa
 worri gariin biyya kaabaa irraa
 worri gariin karaa aduun seentu irraa
 worri kuun biyya Siiniimii* irraa hin dhufan» jedha.

¹³ Mootiin Waan Maraa kolbaa ifii waan jajjabeessuuf,
 worra rakkatelle waan mararuuf,
 ee ol-gubba'a, faarfadha'a!
 Ee lafa, gammada'a!
 Ee gaarota, ilillisa'a!

¹⁴ Xiyyoon ammoo, «Mootiin Waan Maraa na gateera;
 Gootaan na dedheera» jette.

* **49:12 Siiniim:** Yookiin Aswaan amma qachaa biyya Gibxi'ii ti.

- 15 Mootiin Waan Maraa, «Haati annuu ifii ta hoosittu dedhuu dandeettii?
Yookiin finna ifii ta deetteef hin marartuu ree?
Haati annuu ifii deetulle ani ijumaa Xiyoona hin dedhu.
- 16 Ee Xiyoona, kunoo ani ganaa harka kiyyaa irratti si barreeffadheera;
dalleenni keeti ka dhaka'aan ijaarame yenna mara fuula kiyya dura jira.
- 17 «Ijoolleen teeti ariiti'iin gara keeti hin deebiti;
worri diigee si balleesse si keessaa hin baqatan.
- 18 Ol jedhiitii adaala keeti ilaali!
Ilmaan teeti marti wolitti qabantee gara keeti hin dhutti.
Dhugaa ana jiraata'aa,
«Ati isaan mara akka seesaa hin uffata;
akka waajibaalle ijoollee teetiin hin miidhadda» jedhee kakadha.
- 19 «Ati diigantee ontulle,
latti teeti duwwaa teetulle,
amma worra si keessa jirutti dhiphattulle,
worri si balleesse si irraa hin fagaata.
- 20 Ijoolleen teeti ta ati gadditeertuun dhalatte,
si'iin, «Latti tun nutti diqqaatteerti;
lafa leenu badhoo nu'uuf kenni» jettuun hin dhageetta.
- 21 Achiin duuba ati gadhaa keeti keessatti,
«Ani ijoollee tiyya dhabeera; eega san hin deenne;
isaan kana eentu naaf deye?
Ani booji'amee, jibbatameeraayyu;
isaan kana eentu naaf guddise ree?
Ani qofi hafeeraayyu;
isaan kun eessaa dhufane ree» hin jetta» jedhe.
- 22 Gootaan Mootiin Waan Maraa,
«Gosa biyya adda addaa harkaan hin haatadha;
baandiraa kiyyalle kolba'aaf ol hin kaasa.
Isaan ilmaan teeti habbaarane,
ijoollee durraa teetille gurmoo ifii irratti kaasanee hin fidan.
- 23 Moototi abbootii guddisoo ijoollee teetii hin teeti;
giittoti isaanii haadhotii guddisoo ijoollee teetii hin teeti.
Isaan fuula ifitiin lafatti gad hin gombifaman;
miila keeti irralle'ee bukuu hin arraaban.
Achiin duuba ati akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beetta;
worri na addatu hin qaanowu» jedhe.
- 24 Nama jabaa irraa waan inni saame,
yookiin nama gadhaa jabaatu irraa
nama inni booji'e harkaa fuudhuu hin dande'anii?
- 25 Mootiin Waan Maraa ammoo,
«Ee, Wonni nami jabaan saame isa irraa hin fudhatanti;
nama gadhaa jabaatu irraa nami inni booji'e
isa harkaa hin fuudhama;
ani worra si mormu hin morma;
ijoollee teetille hin woda.
- 26 Worri si cunqursu foon ifii akka nyaatu hin godha;

isaan dhiiga ifii akka daadhii woyni'ii unanee hin machowan.
 Achiin duuba ani Mootiin Waan Maraa hunnaamessi Yaaqoobii
 ka si fayyisuu fi ka si wodu akka te'e
 sanyiin namootaa marti hin beetti» jedhe.

50

¹ Mootiin Waan Maraa, «Barreeffam ani ittiin
 haadha teessan lakkise meet ree?
 Yookiin nama liqaa na irraa qabu keessaa
 ani eennutti isin itti gurguradhe?
 Isin cubbuu teessaniif gurgurantane;
 haati teessanille yakkaa teessaniif lakkifante.

² Ani yennaa dhufe maaf
 nama tokkolee achii dhabe?
 Yennaa waamelle maaf nama owwaatu dhabe?
 Harki kiyya gabaabbatee isin wodiisa dadhabee?
 Yookiin hunna ittiin isin fayyisu dhabe?
 Ani xixicha kiyyaan abbaayaa hin gossa;
 lagoota goomolee hin godha;
 qurxummiin achi keessaa bisaan dhaddee
 dhumattee, hin ajootti.

³ Ani gubbaa dukkaneessee,
 akka woyaa gaddaa hin gurraachessa» jedhe.

Ajajamiisa Tajaajilaa Mootii Waan Maraa

⁴ Ani worra dadhaba'atti dubbadhee
 akka isaan jajjabeessuuf,
 Gootaan Mootiin Waan Maraa
 dandeettii barsiisiisaa naa kenneera.
 Inni ganama ganama na dammassa,
 akka nama baratiisatti jiruu
 akka dhage'u gurra kiyya naaf hin bana.

⁵ Gootaan Mootiin Waan Maraa gurra kiyya baneera;
 ani ajajamuu didadhee,
 isa irraa gara duubaa hin deebine.

⁶ Ani dudda kiyya worra na dikutti,
 boqoo tiyyalle worra areeda kiyya
 buqqisu dura qabe;
 fuula kiyya worra natti murguu fi natti tufu hin dhoffanne.

⁷ Gootaan Mootiin Waan Maraa
 waan na qarqaaruuf ani hin qaanowu.
 Tanaaf, ani fuula kiyya akka dhakaa qara qabuu hin godha;
 ani akka hin qaanonnelle hin beeka.

⁸ Akka ani yakkaa hin qanne ka mudhisu, na bira jira;
 eentu na himatuu dande'a ree?
 Yoo jiraate
 wolitti dhikaannee woli himannuu ti!
 Ka na himatu dhikaatuu ti.

⁹ Ka na qarqaaru Gootaan Mootii Waan Maraa ti;
 ka natti muru eennu ree?
 Isaan marti akka wo'aa hin dullooman;
 qu'een isaan hin nyaatti.

¹⁰ Isin keessaa ka Mootii Waan Maraa sodaatuu fi
 jecha tajaajilaa isaatiif ka ajajamu eennu?

Ka ifa hin qanne,
 ka dukkana keessa deddeebi'u
 Mootii Waan Maraatiitti addatuu ti;
 Waaga ifiille'etti irkatuu ti.

- 11 Amma ammoo, isin worri ibidda gabbittanuu fi
 worri xassaa qassittanu marti,
 ifa ibidda gabbittaneetii
 fi ifa xassaa qassiittane san keessa deema'a.
 Isin farra keessa hin buutan;
 tun ta isin harka kiyya keessaa fudhattanu.

51

Fayyinna Yerusaalemii

- 1 Mootiin Waan Maraa,
 «Isin worri balchummaa hordottanu,
 worri ana Mootii Waan Maraa barbaaddanu na caqasa'a.
 Rassaa irraa dhaggantane,
 boolla bisaanii ta keessaa ol baatanelle ilaala'a.
- 2 Gara abbaa keessan Abrahaamii,
 gara Saaraa isin deetteelle ilaala'a.
 Ani yennaa isa waame inni uumaa hin qabu;
 ani ammoo isa eebbisee isa bacesse.
- 3 Ani Mootiin Waan Maraa Xiyoona hin jajjabeessa;
 waan isii duraa diigame maraaf hin marara.
 Goomolee isi'ii akka fichaa Edenii
 lafa isi'ii godduu akka oorruu tiyyaa hin godha.
 Ililleetti'ii fi gammad isii keessatti hin dhaggama;
 qoonqoo galataatii fi faaru'uu achi keessatti hin dhage'anti.
- 4 «Ee kolbaa tiyya na caqasa'a;
 waan jedhulle dhage'a'a.
 Seerri na biraa hin baya;
 muraan tiyyalle gosa biyya adda addaatiif ifa hin teeti.
- 5 Balchummaan tiyya ariiti'iin dhikaatiisatti jirti;
 fayyisiisi kiyyalle dhaqqabiisatti jira;
 irreen tiyya gosa biyya adda addaatiif haqa hin fiddi.
 Worri oddoola keessaa gara kiyya hin ilaalan;
 irree tiyyalle addi'iin hin eegatan.
- 6 Ol jedha'aatii gara ol-gubba'aa,
 gad jedha'aatii lafa ilaala'a;
 ol-gubbbaan akka aaraa hin baddi;
 lattille akka woaya'aa hin dulloonti;
 worri isii irra le'u akka tiitichaa hin dhumatan.
 Fayyisiisi kiyya ammoo, haga bara baraa ti;
 balchummaan tiyyalle ijumaa dhuma hin qaddu.
- 7 «Isin worri balchummaa beettanu,
 isin kolbaan seera kiyya
 gadhaa keessan keessaa qaddanu na dhage'a'a.
 Murgoo namootaa hin sodaatina'a;
 yookiin yennaa isaan isin arrassanu hin rifatina'a.
- 8 Qu'een akka woaya'aa isaan hin nyaatti;
 corroxxi akka rifeensa hoole'ee isaan hin nyaatti.

Balchummaan tiyya ammoo haga bara baraa ti;
fayyisiis kiyyalle
dhaloota irraa dhalootatti hin dabara» jedha.

⁹ Ee irree Mootii Waan Maraa, ka'i, ka'i!
Hunna teeti mudhisi!

Akka bara durii,
akkuma dhaloota durii durii keessaa ka'i!

Jawwee guddittii abbaayaa keessaa,
ta, «Rahaab» jedhanu san kukkuttee,
ka woraante si'ii motii ree?

¹⁰ Worri ati wodatte akka gamatti bu'uuf,
ka abbaaya'aa fi bisaan qilee guddo'oo gosse,
ka qilee abbaaya'aa keessatti karaa baase si'ii motii ree?

¹¹ Worri Mootiin Waan Maraa wode hin deebi'an;
isaan faarfataa gara Xiyyoonii hin seenan;
gammada bara baraa
akka kallachaa mataa ifititti hin keyatan.
Gammadaan hin burraaqan;
gaddii fi bowiisi isaan irraa hin fagaata.

¹² Mootiin Waan Maraa isaaniin,
«Ka isin jajjabeessu ana; anuma qofa.
Namoota du'anu,
ilmaan namootaa ta akka marraa goddu,
maaf sodaattan ree?

¹³ Ana Mootii Waan Maraa ka isin dade,
ka ol-gubbaa diriirsee
hundee lafaa hundeesse deetanee,
maaf guyyaa mara aarii worra isin cunqursuu,
ka isin balleessiisaaf barbaaduu sodaattan ree?
Aariin worra isin cunqursuu meet ree?

¹⁴ Worri hidhameeru ariiti'iin hin bayan;
isaan hin du'anu;
gara qile'eelle gad hin bu'anu;
sagalee nyaatanulle hin dhabanu.

¹⁵ «Danbaliin akkuma bulphittu abbaayaa ka raasu,
ana Mootii Waan Maraa Waaqa keessan;
maqaan kiyya Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dade.

¹⁶ Ani ol-gubbaa diriirsee, hundee lafaalle hundeesse;
ani Xiyyooniin, «Ati kolbaa tiyya;
jecha kiyya afaan keeti keessa hin keya;
gaaddisa harka kiyyaatille'een si hin golla» hin jedha» jedhe.

Muduunuu Mufii Waaqaa

¹⁷ Ee Yerusaalem, muduunuu mufii Mootii Waan Maraa
harka isaa irraa ta unte,
muduunuu mufi'ii ta gatantarsitu, cumaan isi'iille adoo hin hafin ta
xuuxatte,
dammaqi, dammaqi ka'iitii dhaabbadhu.

¹⁸ Ilmaan ati deette mara keessaa,
ka si soressu tokkolle hin jiru;
worra ati gudditte mara keessalle'ee
ka harka qabee si soressu hin jiru.

- ¹⁹ Badiin badii irratti sitti dhutteerti;
eentu si jajjabeessa ree?
Tunille diigamiisa, badiisa,
beelaa fi woraana.
Eentu si waliin gadda ree?
- ²⁰ Mufi'ii fi xixichi Mootii Waan Maraa Waaqa keessanii
waan isin dhaqqabeef,
ilmaan teessan akka buddannee tiyyo'oon qabantee,
woldeennaa kara'aa mara irratti gaggaddee irkatteerti.
- ²¹ Tanaaf isin daadhii woyni'iitiin adoo hin te'in,
rakkinnaan ka machoottane tana dhage'a'a.
- ²² Mootiin Waan Maraa keessan ka Waan Mara Dande'u,
Waaqi kolbaa ifitiif falmu isiniin,
«Kunoo, muduunuu isin gatantarsitu,
harka keessan irraa fuudheera;
deebitaneelle muduunuu mufi'ii tiyya irraa,
ijjumaa akka isin hin unne hin godha.
- ²³ Muduunuu rakkinnaa san
harka worra si farrisiisuu, ka si'iin,
«Gad gombifam, nuuti si irra ideenna» jedhutti hin kenna.
Atille akka isaan irra ideemanuuf
dudda keeti akka lafaatii fi kara'aa gooteef» jedha.

52

Waaqi Yerusaalem Hin fayyisa

- ¹ Ee Xiyoona, dammaqi! Dammaqi!
Hunna uffadhu!
Ee Yerusaalem, qachaa woyyicha,
woyaa teeti ta ulfinnaa uffadhu!
Haganaa achi worri haqanqabaa hin qabatinii fi
worri battowe gara keeti hin seenu.
- ² Ee kolbaa Xiyoonii ta booji'antane,
wodaroo sibiilaa
ta ittiin hidhantane
morma keessan irraa hiikadha'a!
Ee Yerusaalem,
Bukuu ifi irraa hargufadhuutii,
ka'ii, barcumaa mootumma'aa irraa tee'i!
- ³ Mootiin Waan Maraa kolbaa ifitiin, «Isin gatii malee gurgurantaneertani-
iyyu; beese malee hin wodantan» jedha.
- ⁴ Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Kolbaan tiyya qara biyya Gibxi'ii keessa
le'iisaaf, gad dhaxxe; achiin duuba worri Asoorii, sababa malee isaan
cunqurse.
- ⁵ Kolbaan tiyya sababa malee waan fudhatanteef, ani asii maan qaba ree?
Worri isaan bulchu isaanitti murga; guyyaa mara maqaa kiyya faanshessan.
- ⁶ Tanaaf yennaa san kolbaan tiyya maqaa kiyya hin beetti; «Kunoo, ani asi
jira» jedhee, ka dubbate ana akka te'e hin beetti» jedha.
- ⁷ Miilli ergamaa gaara irra dhaabbatee
oduu gammadaa fidu,
ka nageya lassuu,
ka waan dansaa fidu,

- ka fayyinna lallabu,
 ka Xiyooniin, «Waaqi keeti mootii te'a» jedhu,
 attam attam tola!
- ⁸ Caqasi! Mootiin Waan Maraa gara Xiyoonii yennaa deebi'u,
 eeddoti teeti ila ifitiin hin dhaggiti;
 qoonqoo ifii ol qabattee tokkumma'aan hin ilillitti.
- ⁹ Mootiin Waan Maraa kolbaa ifii jajjabeessee,
 Yerusaalem waan wodeef,
 ee bututa Yerusaalemii
 tokkumma'aan ilillisaa faarsa'a.
- ¹⁰ Mootiin Waan Maraa gosa biyya adda addaa mara duratti
 irree ifii woyyittii hin mudhisa.
 Worri qaccee biyya lafaa jiranu duudiin
 fayyisiisa Waaqa keennaa hin dhaggan.
- ¹¹ Isin worri meya Mootii Waan Maraa ba'attanu,
 adda baya'a; adda baya'aa;
 achi keessaa baya'a;
 waan battii hin tuqina'a;
 achi keessaa baya'aatii,
 ifi qulqulleessa'a.
- ¹² Te'uu malee, ariiti'iin hin baatanu
 yookiin baqattanee hin deentanu;
 Mootiin Waan Maraa isiniin dura hin deema;
 Waaqi Israa'elii duuballe'een isin hin eega.

Tajaajilaa Rakkatu

- ¹³ Mootiin Waan Maraa, «Kunoo, tajaajilaan kiyya qarumma'aan huja;
 inni hin saadama;
 ol ol hin qabama;
 hin jajama.
- ¹⁴ Te'uu malee akka tajaajilaa kiyyaa
 nama irraa adda te'ee,
 waan gara dhabeef,
 namooti hedduun baaseffatane.
- ¹⁵ Maarre inni gosa biyya adda addaa hedduu hin baaseffachiisa;
 sababa isaatiif moototi afaan hin qabatti;
 waan dur itti hin himamin hin dhaggiti;
 waan hin dhage'in hin hubatti» jedhe.

53

- ¹ Kolbaan deebitee,
 «Waan nuuti dhageenne eentu dhugeeffate?
 Irreen Mootii Waan Maraa eennnutti mudhatte?
- ² Inni Mootii Waan Maraa duratti akka kichuu quunxituu,
 akka hidda lafa godduu keessaa bawuu hin lata;
 inni dansummaa yookiin arnya nutti tolu hin qabu;
 akka isa jaalannuufille akka hin qabu.
- ³ Inni nama namooti jibbanee tuffatane;
 inni nama dhibee guddo'oo fi rakkoo guddoo qabu.
 Inni akka nama nami fuula irraa deebifatee ti;
 inni nama tuffatame;
 nuutille ulfinna isaaf hin kennine.

- 4 «Inni dhugumaan dhukkuba keenna fudhatee,
 dhibee teennalle ba'ate.
 Te'uu malee, nuuti akka Waaqi isa dhowee,
 akka Waaqi balaa isatti buusee,
 akka Waaqi isa farrisiisetti laakkonne.
- 5 Inni ammoo, sababa cubbuu teennaatiif woraaname;
 sababa yakkaa teennaatiifille butute.
 Nuuti adabamiisa isaatiin nageya dhagganee;
 madaa isaatille'een nuuti fayyine.
- 6 Nuuti marti akka hoole'ee karaa irraa bannee,
 tokko tokkoon keennaayyuu
 karaa karaa keennatti gorre;
 Mootiin Waan Maraa ammoo,
 yakkaa teenna mara isa irra keye.
- 7 «Inni cunqurfamee, farre;
 te'uu malee, waan tokkolle hin dubbanne;
 akka ilmayyoo hoole'ee ka qalmaaf oofamuutii fi
 akkuma hooleen worra rifeensa isi'ii haadu duratti cadhittu,
 inni cadhise malee, womaa hin dubbanne.
- 8 Cunqursiisaan isatti muranee,
 fuudhane deemane.
 Inni lafa worra jiraata'aa
 keessaa balleeffamee,
 sababa yakkaa kolbaa
 ifiitiifille akka adabame
 hidda dhaloota isaa keessaa
 ka hubate eennu ree?
- 9 Inni hammeenna tokkolle
 adoo hin hujin,
 dharalle adoo hin dubbatin,
 worra hamoolee woliin du'ee,
 addee dureeyyiin
 awwaalantutti awwaalame» jette.
- 10 Mootiin Waan Maraa,
 «Te'uu malee, bututiisii fi
 farriis isaa fedha kiyya;
 ani jiruu isaa kennansa
 sababa yakka'aatiif
 dhikaatu godhulle,
 barri isaa dheeratee
 inni sanyii ifii hin dhagga;
 fedhiin tiyyalle
 karaa isaatiin hin muummotti.
- 11 Inni farriisa ifitiin duuba,
 ifa jiru'uu dhaggee hin gammada.
 Tajaajilaan kiyya balchichi,
 beekkumsa ifitiin
 worra baca hin balchoonsa;
 yakkaa isaaniille hin ba'ata.
- 12 Inni cubbuu namoota heddu'uu ba'atee,
 marroo yakkaa isaaniitiifille
 isaaniif kadhate;

inni lubbuu ifii du'aaf
 dabarsee kennee,
 hamaaleyyii waliin
 waan laakkowameef,
 ani qooda isaa worra gugurdaa waliin
 isaaf hin kenna;
 inni worra jajjabaa waliin
 boojuu hin qoodama» jedha.

54

Ulfinna Xiyoonii Ka Gara Duraa

- ¹ Mootiin Waan Maraa,
 «Ijoollee dubartii abbaa
 manaa qadduu caalaa,
 ijoolleen dubartii qofi lakkifantee
 waan heddatteef,
 ati maseentittiin
 ijjumaa deettee hin beenne,
 ta ijjumaa ciniinsifattee hin beenne
 gammadaan faarfadhuu, ilillisi!
- ² Addee dunkaanii teetii badhisi;
 gollaa dunkaanii teetii
 badhiisii diriirsi;
 hin dhiphisin.
 Wodaroo teeti dheeressi;
 togaa keeti jabeessi.
- ³ Ati gara middaa fi bita'aa
 waan badhattuuf,
 sanyiin teeti gosa biyya
 adda addaa hin qabatti;
 qachoota isaanii
 ka one keessalle hin qubatti.
- ⁴ «Ati waan hin qaanonneef,
 hin sodaatin;
 waan hin salphanneef,
 hin rifatin.
 Fokkoo yennaa dargaggummaa
 teetii hin deeta;
 qaanii yennaa
 haadha hiyyeessummaa teetiille
 haganaa achi hin qaabattu.
- ⁵ Ani ka si dade
 akka dhirsaa si'iif hin te'a;
 maqaan kiyya Mootii Waan Maraa
 Ka Waaqa Waan Mara Dade;
 ka si wode
 ana Woyyicha Israa'elii ti;
 ani Waaqa lafa duudi'ii ti.
- ⁶ «Ati akka dubartii
 dargaggumma'aan heerumtee,
 abbaan manaa isii lakkisee,
 gadhaa ifii keessatti gadditee ti» jedha.

Mootiin Waan Maraa keeti ammoo,
gara ifii si waamee,

7 «Ani yennaa diqqo'oof
si lakkiseeraayyu;
amma ammoo,
marartii guddo'oon
si deebisa.

8 Ani guddoo waan sitti aareef,
yennaa diqqo'oof
fuula kiyya
si duraa dhoffadheeraayyu;
ammoo, jaalala kiyya
ka bara baraatiin
si hin marara» jedha ka si wodu.

9 Ammalle Mootiin Waan Maraa
ka si mararu si'iin,
«Tun naaf akka bara Nohii
deebi'ee bisaaniin
lafa akka hin balleessine kakadhee ti;
maarre ani amma deebi'ee
akka sitti hin aarre,
deebi'eelle ijumaa
akka si hin xindheef kakadheera.

10 Gaaroti raafamanulle,
kooboti addee ifii irraa ka'anulle
jaalalli bara baraa
ka ani si'iif qabu,
ijumaa hin raafantu;
gondooroon nageyaa tiyyalle hin diigantu.

11 «Ee, ati qachaa Yerusaalemii,
ka rakkatte,
ka bubbee bokkeyaatiin raafante;
ka hin jajjabaatin.

Kunoo, ani dhakaa gatii guddo'ootiin
si hin ijaara;
dhakaa «Safiros» jedhamuun
hundee teetille hin keya.

12 Ani qaccee xelleephoo teetii
dooqa diima'aan,
karra teetiille dooqa cululuquun,
dalleya dhaka'aa keetille
dhakaa gatii guddo'ootiin hin ijaara.

13 Ilmaan teeti marti
ana Mootii Waan Maraa irraa
ka baratte hin teeti;
ijoolleen teetille
nageya guddaa hin dhaggatti.

14 Ati balchumma'aan
hin ijaaranta;
cunqurfamiisi si irraa hin fagaata;
wonni si sodaachisu hin jiraatu;
bararaqi si irraa hin fagaata;
si'ille'etti hin dhikaatu.

- ¹⁵ Eennulle yoo si miidhe,
inni ka ani ergee moti;
nami si miidhu marti
harka sitti hin kennata.
- ¹⁶ «Kunoo, nama cile'etti buufee bobeessu,
sibiila tumee,
meya woraanaa ka qopheessu,
ka dade ana.
Ka woy balleessu,
akka inni woy balleessuuf,
ka dade ana.
- ¹⁷ Mey woraanaa
ka si balleessiisaaf qophowe,
si miidhuu hin dande'u;
worra si himatu mara
hin injifatta.
- Kun qooda tajaajiltoota tiyyaa ti;
injifachaan ani isaaniif kennulle tana» jedha.

55

Waaqi Worra Dheebote Waame

- ¹ Mootiin Waan Maraa, «Isin worri dheebottane marti,
gara bisaanii kowa'a!
Isin worri beesee hin qanne,
kowa'aatii, bitadha'aa nyaadha'a!
Kowa'aatii, beesee malee, gatii malee,
daadhii woyni'iitii fi aanan bitadha'a!
- ² Waan sagalee hin te'initti
maaf beesee teessan baattan?
Waan isin hin quussinetti maaf eloottan?
Na caqasa'a, waan dansaa nyaadha'a;
sagalee dansa'atti gammada'a.
- ³ Gara kiyya kowa'a!
Gurra keessan gara kiyya deebifadha'a;
akka jiraattanuuf na dhage'a'a!
Jaalala kiyya ka bara baraa ka Daawitiif waadaa galeen,
gondooroo bara baraa isin waliin hin godha.
- ⁴ Kunoo, ani Daawiti
kolbaa heddu'uuf dhugaa-bayaa,
sooressaa fi ajajaa kolbaa heddu'uu godheera.
- ⁵ Kunoo, ani Mootiin Maan Maraa
Waaqi keeti Woyyichi Israa'elii
ulfinna waan sii kenneef,
ati gosa biyya adda addaa ta hin beenne hin waanta;
gosi biyya adda addaa ta si hin beennelle
ariiti'in gara keeti hin dhufan» jedha.
- ⁶ Yennaa Mootiin Waan Maraa dhaggamu barbaadadha'a;
adoo dhikoo jiruulle isa waammadha'a.
- ⁷ Nami hamaan karaa ifii,
nami yakkaamessi yaada ifii lakkisee,
gara Mootii Waan Maraa Waaqa keennaa deebi'uu ti;

- inni isaaf hin marara;
 araarri isaalle baca'a.
- ⁸ Mootiin Waan Maraa,
 «Yaadi kiyya akka yaada keessanii,
 karaan kiyyalle akka karaa keessaniitii moti.
- ⁹ Akkuma ol-gubbaan lafa irraa ol fagaattu,
 karaan kiyya karaa keessan irraa,
 yaadi kiyyalle yaada keessan irraa ol hin fagaata.
- ¹⁰ «Bokkeennii fi dhakaan bokkeyaa
 ol-gubbaa irraa gad roobee,
 lafa jiisiisaan,
 latti quunxitee, midhaan akka baachu
 ka facaasuuf sanyii,
 ka nyaatuuf sagalee,
 akka kennitu godhu malee,
 gara ol-gubba'aa akkuma hin deebine,
¹¹ jechi afaan kiyya keessaa bawu,
 waan ani fedhe hujee,
 waan ani itti ergelle
 muummessu malee,
 akkasumaan gara kiyya hin deebi'u.
- ¹² «Isin gammadaan Baabylon keessaa baatanee,
 nageyaan hin geegefantan.
 Gaarotii fi kooboti isin duratti gammadaa hin faarsan;
 muki badda'aa marti harka hin dhowan.
- ¹³ Addee muka qore'ee muki hindheensaa,
 addee qumi'uudu'uu muki dakkaraa hin lata.
 Tunille Mootii Waan Maraatiif qaabbii,
 beessisa haga bara baraa hin banne hin teeti» jedha.

56

Waaqi Gosa Biyya Adda Addaa Gara Fayyinnaa Waame

- ¹ Mootiin Waan Maraa, «Fayyisiis kiyya waan dhikaateeruuf, balchummaan tiyyalle ariiti'iin waan mudhattuuf, haqa eega'a; waan sirrii te'elle huja'a.
- ² Nami tana godhu, ka tana jabeessee eegatu, ka Sanbata hin batteessine, waan hantuu mara hujiisa irraa ka harka ifii eegatu ka eebbifame» jedha.
- ³ Nami ormi gara Mootii Waan Maraa deebi'e, «Mootiin Waan Maraa dhugumaan kolbaa ifii irraa gargar na hin baasa» jedhee hin yaadin.
 Guneessille, «Ani muka goga'a» ifiin hin jedhin.
- ⁴ Mootiin Waan Maraa, «Guneessota Sanbata kiyya ulfeessanu, ka waan na gammachiisu filatanuu fi gondooroo tiyya jabeessanee ka eegatanuuf,
- ⁵ ani Galma Woyyicha kiyya keessaa fi dalleya kiyya keessatti, ijoollee dhiiraatii fi durraa caalaa, yaadanno'oo fi maqaa ittiin beekkamanu isaaniif hin kenna;
 maqaa haga bara baraa hin bannelle isaaniif hin kenna.
- ⁶ «Worra orma ana Mootii Waan Maraa tajaajiluuf, ka maqaa kiyya jaalatuuf, ka ana waaqonfatuuf, ka natti dhikaatee, Sanbata kiyya adoo hin batteessin, gondooroo tiyya eegatanu mara,

⁷ ani gara gaara woyyicha kiyyaa ol isaan hin baasa; mana daadimataa kiyya keessalle'etti isaan hin gammachiisa. Manni kiyya, mana daadimataa ka gosa biyya adda addaa maraa waan jedhamuuf, kennansa isaanii ka gubatu fi ciincaa isaanii ka dhibii addee ciinca'aa tiyya irratti yoo isaan dhikeessane ani hin fudhadha» jedha.

⁸ Gootaan Mootii Waan Maraa ka kolbaa Israa'elii ta bittinnootte wolitti qabu, «Ani worra amma wolitti qabameeru kana irratti ka dhibii dabalee wolitti hin qaba» jedha.

Cubbuu Sooressitoota Israa'elii

⁹ Mootiin Waan Maraa, «Isin worri akka bineensotaa marti, isin worri akka bineensota gongoma'aa marti, nyaatiisaaf kowa'a.

¹⁰ Eeddotti Israa'elii balla'a; isaan martinuu beekkumsa hin qabanu; isaan martinuu akka sareelee dutuu hin dandeennee ti; isaan dutuu hin dande'anuu; irkatane oojjatan; hirriiba jaalatan.

¹¹ Isaan gadhitoo akka saree nyaattee hin quunnee ti; isaan tissitoota woy hin hubanne; isaan martinuu karaa ifii deeman; tokko tokkoon isaaniituu bu'aa ifii barbaadatan.

¹² Isaan, «Kowa'a daadhii woyni'ii unna; untoo nama macheessitulle unnee machoonna. Borulle akkuma adhaa hin teeti; yookiin ta adhaa caala'aayyuu hin tolti» woliin jedhan.

57

Israa'el Waaqa Dharaa Waaqonfatte

¹ «Nami balchaan hin du'a; nami Waaqaaf ifi kennu, wonni hantuun akka isa irra hin geenneef fudhatama; tana nami hubatu hin jiru.

² Worri qajeelumma'aan ideemu nageya hin qabaatan; yennaa du'anulle hin foorfatan.

³ «Isin ilmaan worra moruu, sanyiin gaarayyeffattu'uutii fi sagaagaltu'uu as kowa'a.

⁴ Isin eennutti murgitan? Eennutti afaan bantan? Eennutti arraba baatan? Isin ilmaan fiingiltu'uutii fi sanyii dharaameyyi'iitii motii?

⁵ Isin muka qilxa'aatii fi muka banqaqaa mara jalatti, halchaa sagaa-galaatiin gubattan. Isin dhooqa keessatti, baqaqa rassa'aa keessatti ijoollee teessan ciincessitanii motii ree?

⁶ Isin dhakoota mucucaataa ka odduu dhooqaa waaqonfattan; isaan gooda keessan. Isin dhibaayyuu daadhii woyni'ii isaaniif dhibaattanee, kennansa midhaanii isaaniif kennitan. Ani tana hin mararaa ree?

⁷ Isin gaara dheeraa irratti sagaagaltan; achitti waaqota dharaa keessaniif ciincaa dhikeessitan.

⁸ Balbalaa fi mikikkila balbala teessanii duubaan, fakkii waaqota dharaa keessan keyattaneertan. Isin na lakkittanee, taqee teessan irraa saaxxanee, irra yaaddaneelle badhittanee saaxxane. Nafa isaanii qullaa dhaggitane wol gaarayyeffatiisaaf worra jaalatu woliin, woliin galtane.

⁹ Isin Zayitii ejersaa qabattanee, fiqireelle itti dabaltanee, gara Moleekii waaqa dharaa dhaxxane; isin ergantoota teessan fagoo gara addee worri du'e jiru gad ergitane.

¹⁰ Deemmaa kara'aatiin dadhaddane; te'uu malee, «Tun bu'aa hin qaddu» hin jenne. Hunna haareya dhaggattane; tanaaf hin dadhaddane.

¹¹ «Akka isin na soddanuuf, ka isin sodaachisee yaachise eennu fa'a? Wonni isin na hin qaabatiniif, wonni isin tana hin qalbeeffatiniif, wonni isin na hin sodaatiniif, waan ani yennaa dheertuu cadhiseefii motii?

¹² Ani balchummaa teessanii fi hujii teessan hin salqa; waaqoti dharaa keessan womaa isiniif hin bayanu.

¹³ Yennaa isin qarqaarsaaf iyyattanu, waaqoti dharaa hedduun isin wolitti qabattane sun, isin baasanuu tii me. Isaan mara qilleensi fuudhee hin deema; diilalluulle* isaan hin balleessiti. Nami natti addatu ammoo, lafa hin dhaala; gaara woyyicha kiyya qabeenna ifii hin godhata» jedhe.

Waaqi Kolbaa Qarqaariisaaf, Fayyisiisaafille Waadaa Gale

¹⁴ Mootiin Waan Maraa, «Karaa baasa'a, karaa baasa'a! Daandii qopheessa'a; daandii kolbaa tiyyaa keessaa gufuu kaasa'a!

¹⁵ «Ani Waaqa ol aanaa waan mara caalu, woyyicha haga bara baraa le'u. Ani worra ifi gad qabu yaada isaanii haaressiisaaf, worra addii kutatane jajjabeessiisaaf, addee ol aantuu woyyittii isaan woliin hin le'a.

¹⁶ Ayyaanni kolbaa ani dadeetii fi hafuurri ani isaan keessa keye na duratti akka hin gaganne, ani haga bara baraa isaan hin komadhu; yennaa maralle hin aaru.

¹⁷ Ani sababa joljolummaa cubbuu isaaniitiif isaanitti aare; ani isaan adabee, aari'iin fuula kiyya isaan irraa deebifadhe. Te'uu malee isaan karuma ifii san deemane.

¹⁸ «Ani karaa isaanii dhaggeera; te'uu malee isaan hin fayyisa; ani isaan sooreessa; Isaanii fi marroo isaaniitiif worra bowu hin jajjabeessa.

¹⁹ Worri Israa'elii ka bowu afaan ifitiin akka na leellifatu hin godha; nageenni worra fago'oo fi dhikoo jiruuf te'uu ti. Ani isaan hin fayyisa.

²⁰ Worri hamaan ammoo, akka abbaayaa bulphittuu, ta foora hin qanne, ta danbaliin isi'ii caffaa fi dhogqee qadduu ti» jedha.

²¹ Waaqi kiyya, «Worri hamaan nageya hin qabu» jedha.

58

Laama Dhuga'aa

¹ Mootiin Waan Maraa, «Qoonqoo adoo hin qusatin, guddisii iyyi! Qoonqoo teeti akka tultulla'aa dhageessis! Kolbaa tiyyatti finqila isaanii, sanyii Yaaqoobiititti cubbuu isaanii himi!

² Isaan guyyaa mara na barbaadan; karaa kiyya beekiisaa waan fedhanu fakkaatan; akka kolbaa waan sirrii te'e hujjuutii fi akka kolbaa ajaja Waaqa ifii hin lakkisinii, mura haqaa na gaafatan; ana Waaqatti dhikaatiisalle waan fedhanu fakkaatan» jedha.

³ Isaan, «Eega ati gara laama keenaa hin ilaalle teetee, nuuti maaf laanne ree? Gad ifi qabiisa keenaa eega ati hin ilaalin, nuuti maaf ifi gad qanne ree?» jedhan.

Mootiin Waan Maraa isaaniin, «Kunoo, guyyaa laamaatitti isin waanuma fedhii teessanii gootan; hojjattoota teessan maraayyuu hin cunqursitan.

⁴ «Kunoo, laam keessan lolaa fi moroma'aan, tuntummuu hammeen-naatiin wol tumiisaan muummowa; akka amma laamiisatti jirtanu kana laamaa, daadimati keessan ol-gubba'atti waan isiniif dhage'amu isinitti hin fakkaatin.

⁵ Laam ani filadhe ka akkasii kanaa ree? Nami ka ifi gad qabu, guyyaa akkanaa qofaa ree? Akka allaadu'uu qooree mataa ifi gad qabatiisaa ree? Yookiin woyaa gaddaa uffatee daadhaa irra gangalatiisaa ree? Laam isin jettanu isa kanaa ree? Guyyaan ana Mootii Waan Maraa biratti fudhatama qabu guyyaa akkanaatii ree?

* **57:13 Diilalluu:** Lafa tokko tokkotti diidalluu jedhan

⁶ «Laam ani filadhe worra haqa malee hidhame akka hiittanu, wodaroo waanjo'oo akka hiittanu, worra cunqurfame bilisa akka baattanuu fi waan-joo mara akka caccassittanuu motii ree?

⁷ Sagalee teessan worra beelowe woliin akka qoodantanu, hiyyeessa olii fi gad joonjuuf addee bulu akka kennitanu, nama qullaa jiru yennaa dhaggitane akka daara baattanu, aantee teessanitti fuula akka itti hin hammaannee motii ree?

⁸ Yoo tana gootane ifi keessan akka ganamaa hin ifa; fayyinni keessanille ariifatee hin dhufa; balchummaan teessan isiniin dura hin deenti; ulfinni kiyyalle isin duubaan isin hin eega.

⁹ Yennaa isin daadimattanuu, ani deebii isiniif hin kenna; yennaa isin qarqaarsaaf gara kiyya iyyitanu, anille isin jalaa hin owwaadha.

«Isin nama cunqursiisa, quba namatti qabiisaa fi hantuu dubbatiisa yoo lakkittane,

¹⁰ ka beeloteef sagalee yoo kennitane, ka rakkatelle yoo qarqaartane, ifi keessan dukkana keessatti hin ifa; dukkanti dimmi teessanille akka ifa saafowaa hin teeti.

¹¹ Ani Mootiin Waan Maraa yennaa mara isin hin sooreessa; lafa godduu keessalle'etti isin hin quussa; lafee teessan hin jabeessa. Isinille akka oorruu bisaan obaafamuu, akka madda bisaan isaa hin dhidhannee hin teetan.

¹² Kolbaan teessan waan dur diigame deebittee hin ijaarti; hundee durii ol kaasan. Isin, «Worra dalleya dhaka'aa ka caccabe deebisee haareessu, worra karaa bade miidhassu» hin jedhantan.

¹³ Isin seera Waaqaa ka marroo guyyaa Sanbataa yoo eegattane, guyyaa woyyicha kiyya kanatti, waan fedhii teessanii yoo godhuu dhaddane, guyyaa Sanbataa guyyaa gammadaa, guyyaa kiyya woyyicha guyyaa ulfinnaa yoo godhattane, guyyaa san haajaa keessaniif ideemiisa, waan fedhii teessanii godhiisa yookiin waan dubbatiisaaf hin malle yoo lakkittane,

¹⁴ isin yennaa san ana Mootii Waan Maraatti hin gammadan; ani lafa mara irratti akka isin ulfaattanuu, dhaala abbaa keessan Yaaqoobiille akka isin nyaattanuu hin godha; ani Mootiin waan Maraa tana dubbadheera» jedha.

59

Cubbuu, Cubbuu Irraa Deebi'iisaa Fi Wodamiisa

¹ Kunoo, harki Mootii Waan Maraa fayyisiisaaf hin gabaabbanne; gurri isaalle dhage'iisa hin dadhanne.

² Yakkaan teessan ammoo Waaqa keessan irraa gargar isin baatteerti; akka inni isiniif hin dhageenne, cubbuun teessan akka inni fuula ifii isin irraa deebifatu gooteerti.

³ Harki keessan dhiigaan, qubi keessanille yakka'aan battoweera. Afaan keessan dhara dubbata; arrabi keessanille waan hantuu dubbata.

⁴ Nami haqaan ideemuu fi nami haajaa ifii dhuga'aan dhikeeftatu tokkole hin jiru. Moromaa bu'aa hin qannetti addatanee, dhara dubbatan. Miidhaa gadha'atti qabatanee, hammeenna fidan.

⁵ Isaan quuphaa buuti'iititti kabban; mana saaphuphu'uu ijaaran; nami quuphaa san nyaatu marti hin du'a; quuphaa cabu san keessaa ilmee buuti'iititti baya.

⁶ Manni saaphuphu'uu sun woyaa dhowiisaaf hin te'u; waan dhowatanuu san uffatiisa hin dande'anuu; hujiin isaanii hujii hammeenna ti; harki isaanii hujii hammeennaatiin guutameera.

⁷ Miilli isaanii waan hantuu hujiisaaf ori'a; isaan dhiiga nama yakkaa hin qanneelle dhangalaasiisaaf ariifatan; yaadi isaanii yaada hama'a; gara deemanu maratti hujiin isaanii hujii diigiisaatii fi balleessiisaa ti.

⁸ Isaan karaa nageyaa hin beekanu; daandii isaanii keessalle haqi hin jiru; isaan karaa ifii daddassaneeran; nami karaa san irra deemulle nageya hin dhaggatu.

Kolbaan Cubbuu Ifii Faaci'atte

⁹ Tanaaf kolbaan, «Haqi nu irraa fagaate; balchummaalle nu bira hin geettu. Nuuti ifa barbaanna; ammoo marti dukkana; nuuti ifaa guddaa barbaanna; ammoo dukkana dimma keessa ideemiisatti jirra.

¹⁰ Akka nama balla'aa dalleya qaqqabataa, akka nama ila hin qannee karaa barbaadanna; akka waan dimimmisaa guyya'aan gufanna; odduu worra jajjabaatitti, akka worra du'ee teene.

¹¹ Nuuti marti akka doobba'aa hin gururaana; akka saphaliisaa aadiisaan wiiccifannee boonna. Haqa barbaanna; ammoo hin dhaggannu; fayyinna barbaanna; ammoo nu irraa fago'o.

¹² «Balleessaan teenna fuula keeti duratti baca'a; cubbuun teennalle nu irratti dhugaa baati. Balleessaa teenna beenneerra; yakkaa teennalle hubanneerra.

¹³ Nuuti Mootii Waan Maraa irraa finqillee isa sonneerra; Waaqa keenna hordofiisa irraa deebineerra; nama cunqursiisaa fi hunnaan nama irratti ka'iisa yaadanna; dhara gadhaa keenna keessatti yaadanne dubbanna.

¹⁴ Tanaaf haqi duubatti deebi'ee, balchummaan fagaatteerti; Dhugaan karaa irratti gufattee, addatamummaan qachaa seenuu hin dandeenne.

¹⁵ Dhugaan dhabante; nami waan hantuu irraa gorulle hin saamama» jetti. Mootiin Waan Maraa haqi akka hin jirre dhaggee, gadde.

¹⁶ Inni worra cunqurfame ka qarqaaru nami tokkolle akka hin jirre dhaggee baaseffate; maarre inni irree ifitiin fayyinna fide; balchumuma isaatitti isa qarqaare.

¹⁷ Inni balchummaa akka qomoo sibiilaa uffata; fayyinna akka gullee sibiilaa keyata; inni haluu akka woaya'aa, hinaaffaalle akka bullukko'oo uffate.

¹⁸ Inni akkuma hujii isaaniititti worra isa mormu irratti mufii ifii hin fida; diinota ifitii fi kolbaa oddoola keessa leetulle'eef gatii hujii isaanii hin kenna.

¹⁹ Mootiin Waan Maraa akka bisaan abbaaya'aa ka bubbe'een darbamuu, waan dhufuuf, worri gara aduun seentu jiru maqaa Mootii Waan Maraa hin sodaatan; worri gara aduun baatu jirulle ulfinna isaa hin sodaatan.

²⁰ Mootiin Waan Maraa kolbaa ifitiin, «Ka wodu, gara Xiyoonii, gara worra sanyii Yaaqoobii keessaa cubbuu ifii irraa deebi'anee hin dhufa» jedha.

²¹ Mootiin Waan Maraa, «Gondooroon ani isin woliin godhadhu: ayyaanni kiyya ka ani isiniif kennuu fi jechi kiyya ka ani afaan keessan keessa keyu, afaan keessan keessaa, afaan ijoollee teessanii keessaa, afaan ijoollee ijoollee teessanii keessaalle'ee adhaa jalqabee haga bara baraa hin dhabamu» jedha.

60

Ulfina Yerusaalemii Ka Gara Duraa

¹ Ee Yerusaalem, ifi keeti waan dhufeef, ka'ii issi!
Ulfinni Mootii Waan Maraalle si irratti ifeera.

² Kunoo, dukkanti lafa hin golliti;
dukkanti dimmille kolbaa hin dhossiti.

Si'iif ammoo ifi Mootii Waan Maraa hin ifa;
ulfinni isaalle si irratti hin mudhata.

³ Gosi biyya adda addaa gara ifa keetii,
moototille gara ifa keeti ka ganamaa hin dhufan.

⁴ Ol jedhiitii adaala keeti ilaal:
Isaan marti wolitti qabamanee
gara keeti hin dhufan.

Ilmaan teeti fagoo irraa hin dhufan;
ijoolleen durraa teetille worri isaan guddisu
isaan habbaarrateeruun gara keeti dhufan.

⁵ Ati yennaa isaan dhaggite, fuulli keeti hin ifa;
gadhaan keetille gammadaan hin firinxiixa.
Qabeenni abbaayaa irra qaxxaamuree dhufu,
karri gosa biyya adda addaalle teeti hin teeti.

⁶ Gaaloti bindillaan,
gaaloti orgeen biyya Miidiyaaniitii fi Eefa'aa irraa dhufanee
lafa teeti hin guutan.

Namooti biyya Sheeba'aatii dhufanu marti
worqi'ii fi hixaana fidanee hin dhufan;
Isaan galata Mootii Waan Maraa hin lallaban.

⁷ Hooleen worra Qedaarii marti
gara keeti wolitti hin qabaman;
korbeeyyii hoole'ee ta worra Nabaayotiille
ciinca'aaf itti hin fayyadanta.

Isaan marti addee ciinca'aa irratti fudhatama hin dhaggatan.
Mootiin Waan Maraa Galma ifii ka ulfinnaa irra caalaa
akka ulfinna dhaggatu hin godha.

⁸ Worri akka duumensaatii fi
akka saphaliisa gara mandhee ifii koolaan ka'uu,
figu kun eennu fa'a?

⁹ Dhugumaan ilmaan teeti worri oddoola keessaa addi'iin Mootii Waan
Maraa hin eegatan; Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti Woyyichi Israa'elii
ulfinna waan sii kenneef, ulfinna isaatiif jedhatee, ilmaan teeti fagoo irraa,
meeti'ii fi worqii isaanii woliin fidiisaaf hobolooti gugurdoon Tarshiishii hin
dursiti.

¹⁰ Mootiin Waan Maraa Yerusaalemiin,
«Worri ormaa dalleya keeti ka dhaka'aa deebisatee hin ijaaran;
moototi isaaniille si hin tajaajilan;
ani aaree si adabeeraayyu;
amma ammoo jaala kiyyaan si hin marara.

¹¹ Gosi biyya adda addaa
karra ifii gara keeti akka fidanuuf,
moototi isaaniille tarre'een akka ol seenanu,
seensumi karra teetii yennaa mara banamee tee'a;
halkanii fi guyyaalle hin cufamu.

¹² Kolba'aa fi mootummooti si hin tajaajille hin badan;
isaan ijumaa hin badan.

¹³ «Addee Galma kiyyaa ittiin seesiisaaf,

muka gugurdaa Libaanonii hindheensa, muka shuwaashuwwe'eetii fi
sookkee gara keeti hin fidan;
ani addee miilli kiyya ijratu tana hin ulfeessa.

14 Ilmaan worra si cunqursee,
sagadaa gara keeti hin dhufan.

Worri dur si tuffate marti
miila keetitti hin jigan.

Isaan, «Qachaa Israa'elii woyyicha ka teete,
qachaa Mootii Waan Maraa Xiyoona» jedhanee si hin waaman.

15 «Ati ta lakkifante, ta jibbatante,
ta nami tokkolle si keessa hin dabarre teetulle,
ani haga bara baraa ta ittiin kooranu si hin godha;
dhaloota maraafille addee gammadaa si hin godha.

16 Akkuma ijoolleen harma haadha ifii hootu,
atile qabeenna gosa biyya adda addaatiifi moototaa,
hin hoota.

Achiin duuba ani Mootiin Waan Maraa,
hunnaamessi Yaaqoobii,
ka si fayyisuu fi ka si wodu
akka te'e hin beetta.

17 «Ani addee sageettu'uu worqii,
addee sibiilaa meetii,
addee mukaa sageettuu,
addee dhaka'aa sibiila si'iif hin fida.
Ani nageya mootii keeti,
balchummaalle bulchaa keeti hin godha.

18 Haganaa achi biyya teeti keessatti,
hunnaan nama irratti ka'iis,
meessaa keetitti diigamiisi yookiin badiisi hin jiraatu.
Ati ammoo dalleya dhaka'aa ka qachaa keetii, «Fayyinna»,
seensuma karra teetiille, «Leellisa» jettee hin waanta.

19 «Ani Mootiin Waan Maraa ifa bara baraa,
Waaqi keeti ulfinna waan sii te'uuf,
haganaa achi guyyaa aduun,
halkan jiin
ifa si'iif hin te'u.

20 Aduun teeti deebitee hin seentu;
jiin keetille ifiisa hin lakkisu.
Ani Mootiin Waan Maraa ifa bara baraa
si'iif hin te'a
barri gadda keetiille hin dhumata.

21 Achiin duuba kolbaan teeti marti balchoolee hin te'an;
isaan lafa san haga bara baraa hin dhaalan.
Isaan ulfinna kiyya mudhisiisaaf biqiltuu ani harka kiyyaan dhaabe.

22 Maatiin diqqoon kuma hin teeti;
ta mara caala diqqo'oo kolbaa jadduu hin teeti.
Ani Mootii Waan Maraa ti;
yennaa isi'iititti tana mara
ariifadhee hin muummessa» jedha.

61

Oduu Gammadaa Ta Fayyinnaa

- ¹ Ayyaanni Goottaa Mootii Waan Maraa na irra jira;
 akka ani oduu gammadaa
 worra cunqurfameef lallabu,
 na muudeera.
 Worra gadhaan isaanii madaye
 akka ani fayyisuuf,
 worra booji'ame akka ani bilisa baasuuf,
 worra hidhame akka ani hiikuuf,
 Mootiin Waan Maraa na ergeera.
- ² Woggaa Mootii Waan Maraa biratti fudhatama qadduu fi
 guyyaa Waaqi keenna haluu bawu,
 akka ani lassuuf,
 worra bowu mara
 akka ani jajjabeessuuf,
 Mootiin Waan Maraa na ergeera.
- ³ Worri Xiyoona keessatti gaddiisatti jiru,
 mata'atti addee daadhaa firfirfatanu
 marata dansaa akka ani itti maru
 addee bowanu,
 zayitii gammadaa akka ani itti dhangalaasu,
 addee ayyaana gaddaa,
 woyaa leellisaa akka ani itti uffisuuf,
 na ergeera.
- Isaan, «Qilxaa balchumma'aa,
 ka Mootiin Waan Maraa ulfinna ifii mudhisiisaaf dhaabe» jedhamanee
 hin waamaman.
- ⁴ Isaan diigama durii deebisane hin ijaaran;
 waan dur baddelle adde'etti hin deebisan.
 Qachoota dhaloota heddu'uun dura diigamee bade
 deebisane hin haareessan.
- ⁵ Alagaan hoolee teessan isiniif hin tissa;
 fichaa keessan isiniif hin qota;
 oorruu muka woyni'ii teessan keessa isiniif hin huja.
- ⁶ Isin ammoo, «Hayyoota Mootii Waan Maraa, tajaajiltoota Waaqa keennaa»
 jedhantane hin waammatan.
- Isin qabeenna gosa biyya adda addaa hin nyaattan;
 durummaa isaaniitiin hin koortan.
- ⁷ Kolbaan tiyya addee qaani'ii qooda harka lama hin fudhatti;
 addee salphinnaa dhaala ifiititti hin gammaddi;
 qooda lafa ifii harka lama hin fudhatti;
 haga bara baraalle hin gammaddi.
- ⁸ Ani Mootii Waan Maraa haqa waan jaaladhuuf,
 saamichaa fi yakkaa jibba.
 Ani addatamummaa tiyyaan
 kolbaa tiyyaaf gatii hujii isaanii hin keenna;
 isaan wolille'een gondoaroo bara baraa hin godha.
- ⁹ Sanyiin isaanii gosa biyya adda addaa keessatti,
 ijoolleen isaaniille kolbaa oddu'utti hin beekkanti;
 nami isaan dhaggu marti

isaan kolbaa Mootiin Waan Maraa eebbise
akka te'ane hin beeka.

- ¹⁰ Ani Mootii Waan Maraatiin guddoo gammada;
lubbuun tiyyalle Waaqa kiyyaan firinxiixxi.
Akkuma waajibichi akka hayyu'uu marata mata'atti maratu,
akkuma waajibittiin dooqaan ifi seefattu,
inni woyaa fayyinnaa
natti uffiseera;
bullukkoo balchumma'aalle itti dabalee natti uffiseera.
- ¹¹ Akkuma latti biqiltuu biqilchitu,
akkuma oorruun sanyii itti facaafante lachisiittu,
Gootaan Mootiin Waan Maraa,
balchumma'aa fi leellisi
gosa biyya adda addaa duratti
akka lattu hin godha.

62

Xiyoona Maqaa Haareya Dhagatte

- ¹ Balchummaan isi'ii akka aduu ganamaa,
fayyinni isi'iille akka xassaa bobbe'uu haga issutti,
ani marroo Xiyoonii hin cadhisu;
marroo Yerusaalemii hin sarmu.
- ² Gosi biyya adda addaa balchummaa teeti,
moototi marti ulfinna keeti hin dhaggan;
maqaa haareya Mootiin Waan Maraa sii kennuun
hin waamanta.
- ³ Ati harka Mootii Waan Maraatiitti
akka kallacha ulfinnaa,
harka Waaqa keetiititti
akka kallacha mooti'ii hin teeta.
- ⁴ Ati hagara achi,
«Ta lakkifante» hin jedhantu,
yookiin «Lafa duwwaa» hin jedhantu;
Mootiin Waan Maraa waan sitti gammaduuf,
latti teetille abbaa manaa waan qabaattuuf,
ati ammoo, «Gammadi kiyya isi'iin» jedhantee hin waamanta;
latti teetille, «Dubartii abbaa manaa qaddu» jedhantee hin waamanti.
- ⁵ Akkuma dargaggeessi durra fuudhu,
ilmaan teeti si hin fuuti.
Akkuma waajibichi waajibittii ifiititti gammadu,
Waaqi keetille si'itti hin gammada.
- ⁶ Ee Yerusaalem,
ani dalleya dhaka'aa keetii irra,
eeddota keyeera;
isaan halkanii fi guyyaa ijumaa hin cadhisu.
- Isin worri Mootii Waan Maraa waammatanu hin foofatina'a.
- ⁷ Haga Mootiin Waan Maraa qachaa Yerusaalemii
deebisee ijaarutti,
kolbaan marti haga isii leellittutti
foora isaaf hin kennina'a.
- ⁸ Mootiin Waan Maraa harka ifii middicha,
irree ifi jaddu'uun kakatee,

- «Ani deebi'ee diinni keeti midhaan keeti akka nyaatu,
daadhii woynii teeti ta ati itti elootte,
ormi akka unu hin godhu.
- ⁹ Isin worri midhaan galfattan ammoo,
midhaan san nyaattanee Mootii Waan Maraa hin leellifattan;
isin worri midhaan woyni'ii guurattanu,
badhinna Galma kiyyaa keessatti
daadhii woyni'ii hin untan» jedhe.
- ¹⁰ Kolbaa Yerusaalemii, karaa karra qacha'aatiin dabara'a;
kolba'aafille karaa qopheessa'a!
Karaa guddaa baasa'a; dhakaa karaa keessaa kaasa'a;
gosa biyya adda addaatiif baandiraa ol kaasa'a.
- ¹¹ Mootiin Waan Maraa,
«Kolbaa Xiyooniitiin, «Kunoo, fayyisaan keessan dhufaara;
gatiin inni isinii kennu,
wonni inni isiniif kaffalu harka isaa jirti» jedha'aan»
jedhee, haga qaccee biyya lafaatitti lasseera.
- ¹² Isaan, «Kolbaa Woyyittii,
ta Mootiin Waan Maraa wode» jedhamane hin waamaman.
Yerusaalemille,
«Qachaa barbaadamu,
ka hin lakkifanne»
jedhantee hin waamanti.

63

Guyyaa Waaqi Itti Haluu Bayuu Fi Wodu

- ¹ Ka woyaa diintuu uffatee, biyya Edoomii, qachaa Bozraa irraa dhufiisatti
jiru kun eennu? Ka woyaa dansaa uffatee, hunna ifii guddo'oon as dhufiisatti
jiru kun eennu?
Inni, «Ani, Mootii Waan Maraa ka balchumma'aan dubbatu, ka fayyisiisaaf
hunna qabu» jedha.
- ² Nami tokko, «Woyaan teeti akka woyaa worra woynii cunfuu,
maaf diimatte ree?» jedhee gaafata.
- ³ Mootiin Waan Maraa deebisee, «Ani qofii tiyya woynii cunfeera; gosa
biyya adda addaa keessaa nami tokkolle na waliin hin jiruuyyu. Ani aarii
tiyyaan isaan irra sirbee, mufii tiyyaan isaan butuche; dhiigi isaanii woyaa
tiyyatti faffaca'ee, woyaa tiyya halle.
- ⁴ Ani guyyaa haluu itti bayu murteesseera; barri ani kolbaa tiyya wodulle
dhikaateera.
- ⁵ Ani adaala kiyya ilaale; nama na qarqaaru tokkolle dhabe. Nama
qarqaaru waan dhabeef maadeffadhe. Maarre, irreen tiyya fayyinna naa
fiddee, mufiin tiyya na qarqaarte.

- ⁶ «Ani aarii tiyyaan gosa biyya adda addaa irra sirbe;
mufii tiyyalle'een isaan macheessee,
dhiiga isaanii lafatti dhangalaase» jedhee hin deebisa.

Leellisaa Fi Daadimata

- ⁷ Ani jaalala bara baraa ka Mootii Waan Maraa,
waan nuuf godhe maraaf,
hujii inni ittiin leellifamu,
akka marartii ifiitii fi jaalala ifii ka bara baraatitti,

Waan guddoo dansaa inni Israa'eliif godhe hima.

⁸ Inni isaanii, «Isaan dhugumaan kolbaa tiyya; ilmaan na hin sonne» jedheera; tanaaf inni fayyisaa isaanii te'e.

⁹ Yennaa isaan rakkatanu mara innille rakkate; ergamaan isaa ka isa bira jiru isaan baase. Inni jaalala ifitii fi marartii ifitiin isaan wode; inni bara duriitii jalqabee yennaa mara ol fuudhee isaan ba'ate.

¹⁰ Isaan ammoo finqilanee, ayyaana woyyicha isaa gaddisiisane. Tanaaf, inni garagalee diina isaanii te'ee, ifumaaf isaan lole.

¹¹ Achiin duuba kolbaan bara durii, bara Muuse'eetii fi Israa'eloota isa waliin jirtu qaabattee, «Ka sooressitoota waliin kolbaa ifii abbaayaa keessa akka gamatti bu'anu godhe, ka ayyaana woyyicha ifii isaan keessa keye meet?

¹² Irree ifii ta ulfinna qadduun ka midda Muuse'ee dhaabbate, ka ulfinna maqaa ifii bara baraan akka beekkamu godhiisaaf, isaan duratti bisaan gargar kute eennu?

¹³ Akka farda lafa duwwaa keessa ideemuu, qilee bisaanii keessa adoo hin gufatin akka isaan gamatti bu'anu ka godhe eennu?

¹⁴ Akka loon dirre'etti gad bu'anee foorfatanuu, ayyaanni Mootii Waan Maraa akka isaan foorfachiisu ka godhe eennu?» jetti. Ulfinni maqaa keetii akka beekkamuuf ati kolbaa teeti akka kanaan sooressite.

Daadimata Mararti'ii Fi Qarqaarsa Dhaggatiisaaf Dhikaate

¹⁵ Ee Mootii Waan Maraa, barcumaa mootumma'aa keeti woyyicha, ka ulfinna qabuu fi ol aanaa irraa ol-gubba'aa gad nu ilaali! Hinaaffa'aa fi hunni teeti meet ree? Gadhi-laafumma'aa fi marartiin teeti nu irraa fagaatteerti.

¹⁶ Ee Mootii Waan Maraa, ati abbaa keenaa; Abrahaam nu beekuu dhabulle yookiin Israa'el nu qaabbii dhaddulle, ati ammoo abbaa keenaa. Maqaan keeti duruuyyuu wodoo teenna.

¹⁷ Ee Mootii Waan Maraa, maaf akka nuuti karaa keeti irraa gorru nu goota? Akka nuuti si hin sodaaneefille, maaf gadhaa keenaa jabeessita? Tajaajiltoota teetii fi gosa dhaala keeti te'aneef jedhiitii deebi'i.

¹⁸ Kolbaan teeti woyyittiin yennaa diqqo'oof, addee woyyittii teeti dhaalte; amma ammoo, diinoti keenaa addee woyyittii teeti irra sirbane.

¹⁹ Nuuti akka worra ati dur ijumaa bulchitee hin beennee, akka worra maqaa keetiin waamamee hin beennee teeneerra.

64

¹ Akka gaaroti si sodaatanee raafamanu, ol-gubbaa tarsaattee adoo gad buutee, maaloo!

² Akkuma nami haasume'een ibidda bobeessee, ibiddi sun bisaan danfisu, gosi biyya adda addaa si duratti akka hollattu, gad bu'iitii diinota keetitti maqaa keeti beessisi.

³ Waan nuuti hin yaadatin, waan sodaachisu yennaa goote, ati gad buutee gaaroti si duratti hollatane.

⁴ Worra isa addi'iin eegatuuf ka maadee huju, Waaqi akka keetii ka dhibiin tokkolle hin jiru; durii jalqabee dhage'amee, dhaggameelle hin beekkamu.

⁵ Ati worra hujii sirri'ii gammadaan hujuu fi worra karaa keeti qaabatu qarqaarta. Nuuti cubbuu ittuma waan hunyeef, ati nu irratti mufatte. Maarre nuuti attam fayyuu dandeenna ree?

⁶ Nuuti marti cubbu'uun xuroonneera; hujiin teenna balchittiille akka hoccuu xuri'ii teeteerti. Cubbuun teenna akka baala qooree qilleensi hax-owee deemuu, nu mara haxoottee ideenteerti.

⁷ Ati fuula keeti nu irraa deebifattee, cubbuu teennatti dabarsitee waan nu kenniteef, nami maqaa keeti waammatu tokkolle hin jiru; nami gara keeti deebi'iisaaf wodhaanulle hin jiru.

⁸ Te'uu malee, ee Mootii Waan Maraa, ati abbaa keenna; nuuti faara; ati faara irraa nu hujje. Nuuti marti hujii harka keetii ti.

⁹ Nuuti marti kolbaa teeti waan teeneef, ee Mootii Waan Maraa! Maganne'e, gara keenna ilaali; akka malee nutti hin aarin; haga bara baraa cubbuu teenna nutti hin laakkowin.

¹⁰ Qachooti woyyichi keeti akka goomole'ee duwwaa te'eera; Xiyooinuu duwwaa teeteerti; Yerusaalem duwwaa teeteerti.

¹¹ Galmi woyyichi keenna ka ulfinna qabu, addeen abbootiin teenna ta durii itti si leellifatte, ibiddaan gubame; wonni nu gammachiisu marti diigame.

¹² Ee Mootii Waan Maraa, tun marti yennaa nu irra dhaqqaddu, ati nu hin qarqaartuu ree? Ati cadhittee akka malee nu hin adaddaa ree?

65

Mura'aa Fi Fayyisiisa Waaqaa

¹ Mootiin Waan Maraa, «Ani worra na hin daadimatiniitti ifi mudhise; worra na hin barbaadiniitti mudhadhe. Kolbaa maqaa kiyya hin waammanneen, «Ani as jira; ani as jira» jedhe.

² Ani guyyaa guutuu harka kiyya gara kolbaa finqiltu'uu, ta karaa dansaa hin te'in ideentuu, ta yaada hamaa ifi hordottuu badhise.

³ Kolbaan tun fuula kiyya duratti, oorruu keessatti ciincaa dhikeessiisaan, faara loobame irratti hixaana aarsiisaan, yennaa mara na aarsiti.

⁴ Isaan awwaala odduu tee'an; halkanille addee dhokatte bulan; foon booyye'ee nyaatan; shorbaan foon batti'i okkotee isaanii keessa guuteera.

⁵ Isaan, «Nuuti woyyoota waan teeneef, nu irraa fagaadha'a; nutti hin dhikaatina'a!» worra jedhu. Kolbaan akkasii akka ibidda guyyaa guutuu bobe'uu, aariin tiyya akka bobeettu gooti.

⁶ «Kunoo, yakkaan isaanii na duratti barreeffanteerti; ani guutumatti gatii isaanii hin kennaaf malee, hin cadhisu; akkuma hujii isaaniititti mataa isaanitti hin deebisa.

⁷ Isaan gaarota irratti hixaana waan aarsaneef, koobota irralle'etti waan na faanshessaneef, yakkaa isaaniitii fi yakkaa abbootii isaanii, akkuma hujii isaanii ta durii sanitti mataa isaaniititti hin deebisa» jedha.

⁸ Mootiin Waan Maraa ammalle, «Akkuma namooti unkuruurri woyni'ii damee muka woyni'ii irra adoo jiruu, «Eebbi isa keessa waan jiruuf, hin balleessina'a» jedhanu, anille tajaajiltoota kiyyaaf jedhee, akkasuma godha malee, isaan mara hin balleessu.

⁹ Yaaqoobiif ijoollee hin kenna; Yihudaalle gaarota kiyya akka dhaalu hin godha; kolbaan tiyya ta ani filadhe addee san hin dhaalti; tajaajiltooti tiyyalle achi keessa hin leeti.

¹⁰ Kolbaa tiyya ta na barbaadduuf, Shaaron addee hoolee itti tiffatanu, dhooqi Aakorille addee horiin ciisu hin teeti.

¹¹ «Isin worra ana Mootii Waan Maraa lakkittanee, gaara woyyicha kiyya deetanee, waaqa dharaa ka, «Milkii» jedhamuuf, qorii qopheessitane, worra waaqa dharaa ka, «Hixaa» jedhantuufille, daadhii woyni'ii ta makante muduunu'utti guuttaneefii,

¹² yennaa ani isin waame, waan hin owwaatiniif, yennaa ani dubbadhelle waan hin caqasiniif, na duratti waan hantuu hujjane, waan na hin gammachiinne waan gootaneef, ani shallaaga'atti dabarsee isin hin kenna; isin marti qalamiisaaf gad hin jettan» jedha.

¹³ Tanaaf, Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Tajaajiltooti tiyya hin nyaatti; isin ammoo hin beelottan; tajaajiltooti tiyya hin unti; isin ammoo hin dheebottan; tajaajiltooti tiyya hin gammaddi; isin ammoo hin qaanottan.

¹⁴ Tajaajiltooti tiyya gadhaa ifii keessatti gammaddee hin faarfatti; isin ammoo gadhaa keessan keessatti waan gadditanuu fi addii waan kutatanuuf, wiiccifatanee hin boottan.

¹⁵ Worri ani filadhe maqaa keessan jecha abaarsaa akka godhanu hin godha. Tanaaf ani Gootaan Mootiin Waan Maraa isin hin fixa; tajaajiltoota tiyya ammoo maqaa haareyaan hin waama.

¹⁶ Rakinni durii dedhamee ila tiyya duraa waan dhokateef, nami lafa san keessatti eebbisu, maqaa ana Waaqa dhuga'aatiin hin eebbifama; nami lafa san keessatti kakatu, maqaa ana Waaqa dhuga'aatiin hin kakata» jedha.

Ol-gubboota Haareya Fi Lafa Haareya

¹⁷ Mootiin Waan Maraa, «Kunoo, ani ol-gubboota haareyaa fi lafa haareya hin dada; wonni dur te'e hin qaabatantu yookiin hin yaadatantu.

¹⁸ Kunoo, ani Yerusaalem qachaa gammadaa, kolbaa isi'iille worra gammadu waan godhuuf, isin waan ani dadutti haga bara baraa gammada'aatii, ilillisa'a.

¹⁹ Ani Yerusaalemii fi kolbaa tiyyatti hin gammada; haganaa achi qoon-qoon bowaatii fi iyyaa achi isii keessatti hin dhage'antu.

²⁰ Achi keessa finni yennaa diqqoo qofa le'u yookiin jaarsi dulloomee bara ifii adoo hin muummeffatin du'u hin jiraatu. Nami woggaa dhibba le'ee du'uuyyuu, akka waan dargaggumma'aan du'eetitti, nami woggaa dhibba adoo hin geyin du'ulle akka nama abaarammeetitti laakkowama.

²¹ Isaan mana ijaarratanee keessa hin le'an; muka woyni'iille dhaabbatane, midhaan isi'ii hin nyaatan.

²² Haganaa achi mana isaan ijaarratanu keessa nami dhibiin hin le'u yookiin waan isaan dhaabbatanu* nami dhibiin hin nyaatu. Kolbaan tiyya akka mukaa bara dheeraa hin leeti. Worri ani filadhelle waan harka ifitiin hujanetti bara dheeraa hin gammadan.

²³ Isaan elo'otti hin hafanu; ijoolleen isaaniille dedhuma du'iisaaf hin dhalattu; isaanii fi sanyiin isaanii kolbaa ani Mootiin Waan Maraa eebbise hin te'an.

²⁴ Adoo isaan na hin waammatin, ani isaaniif hin owwaadha; adoo isaan dubbatiisatti jiranuu, ani isaaniif hin dhage'a.

²⁵ Yayyi'ii fi ilmooleen hoole'ee waliin hin dheedan; neenqille akka sanga'aa hicaacee hin nyaata; dhudhuufaan ammoo bukuu hin nyaata. Isaan gaara woyyicha kiyya irratti woy hin miidhanu yookiin woy hin balleessanu» jedha.

66

Gootaan Gosa Biyya Adda Addaa Mara Irratti Hin Mura

¹ Mootiin Waan Maraa, «Ol-gubbaan teessoo tiyya; lattille ijyata miila kiyyaa ti. Isin eessatti mana naaf ijaartan? Addeen foora kiyyaalle eessa?

* 65:22 **Dhaabbatanu:** Lafa tokko tokkotti dhaabatanu jedhan.

² Tana mara harka kiyyattuu huje; wonni martinuu tiyya. Ani gara worra gad ifi qabuu, gara worra mataa hin jabaanneetii fi gara worra jecha kiyya sodaatuu hin ilaala.

³ «Nami korma qalee ciincaa naaf dhikeessu, akka nama, nama ijjeesuu ti; nami hoolee qalee ciincaa naaf dhikeessu, akka nama morma sare'ee cassuu ti; nami kennansa midhaanii naaf dhikeessu, akka nama dhiiga booyye'ee naaf dhikeessuu ti; nami hixaana yaadanno'oo naaf aarsu, akka nama waaqa dharaa waaqonsuu ti. Worri akkasii karaa ifii filatee, battummaa ifiititti gammada.

⁴ Ani yennaa isaan waame, waan na jalaa hin owwaatiniif, yennaa isaanitti dubbadhe, waan hin dhage'iniif, isaan na duratti waan hantuu hujanee, waan na hin gammachiinne waan godhaneef, anille rakinni akka isaanitti dhufu godhee, waan isaan bararaqanu isaanitti hin fida» jedha.

⁵ Isin worri jecha Mootii Waan Maraa sodaattanu, jecha Mootii Waan Maraa kana dhage'a'a. Mootiin Waan Maraa, «Isin obboleeyyan teessan ta isin jibbite, sababa maqaa kiyyaatiif ta isin gatte, isiniin «Mootiin Waan Maraa ulfaatuu tii, me! Gammada keessanille dhagginuu tii, me!» ta jette, hin qaanotti.

⁶ Hogaa qachaa keessaa, qoonqoo Galma Waaqaa keessalle dhage'a'a! Qoonqoon tunille qoonqoo Mootiin Waan Maraa diinota ifiitiif gatii kenniisatti jiruu ti.

⁷ «Dubartiin adoo hin ciniinsifatin hin deetti. Ciniinsuun adoo isii hin jalqabin ilma hin deetti.

⁸ Nami waan akkasii dhage'ee beekuu fi dhaggee beeku jiraa? Biyyi takka guyyaa tokkotti hin dadantii? Yookiin kolbaan yennaa diqqoo keessatti hin dhaggantii? Xiyoan akkuma ciniinsifatteen ijoollee ifii deetti.

⁹ Ani dubartii deyiisa geette akka hin deenne hin godhaa? Yennaa dubartiin deettu, ani ka gadaamessa cufuu?» jedha.

¹⁰ Isin worri Yersaalem jaalattanu marti
isii woliin gammada'aatii firinxixa'a.

Isin worri isi'iif boottane marti
isii woliin guddoo gammada'a.

¹¹ Harma isi'ii ka jajjabeessu haga quuttanutti hin hootan;
karra isi'ii baca'aan hin gammaddan.

¹² Mootiin Waan Maraa, «Ani nageya Yersaalemiif akka lagaa hin dhangalaasa; karra gosa biyya adda addaalle akka madda bisaanii gara isi'ii hin lolaasa; isiin habbaarattee isin hin hoosifatti; gudeeda ifii irralle'etti isin hin tassiifatti.

¹³ Akkuma haati ijoollee ifii jajjabeessitu, anille isin hin jajjabeessa; isinille Yersaalem keessatti hin jajjabaattan.

¹⁴ Isin tana yennaa dhaggitanu gadhaan keessan hin gammada; lafeen teessanille akka marraa hin bisilti; irreen tiyya tajaajiltoota tiyya woliin akka jirtu hin beekkanti; muftiin tiyya ammoo diinota kiyya irratti hin mudhatti» jedha.

¹⁵ Kunoo, Mootiin Waan Maraa ibiddaan dhufiisatti jira; garreettoti fardaan harkifamu ka isaalle akka hobonbolatti'ii ti; inni aarii ifii muftiin, xixxaa ifii bobe'a ibiddaatiin hin mudhisa.

¹⁶ Mootiin Waan Maraa ibiddaa fi shallaagaa ifiitiin nama maratti waan muruuf, nama hedduu hin fixa.

¹⁷ Mootiin Waan Maraa, «Worri addee oorru'uutitti waaqota ifii keessaa tokko waaqonfatiisaaf dhagee, ka ifi woyyoonsee ifi qulqulleessu, foon

booyye'eetii fi foon hantuutaa, waan battiille worri nyaatu adduma tokko hin badan.

¹⁸ Ani hujii isaaniitii fi yaada isaanii waan beekuuf, dhufee gosa biyya adda addaa ta afaan adda addaa dubbattu mara wolitti hin qaba; isaanille dhufanee ulfinna kiyya hin dhaggan.

¹⁹ Ani odduu isaaniititti baandiraa hin dhaaba; isaan keessaa worra jiru'uun hafe gara gosa biyya adda addaa: gara kolbaa Tarshiishii, gara kolbaa Fuxii, gara kolbaa Ludii ta guube'een loltuu, gara kolbaa Tubaaliitii fi Yaawaanii, gara kolbaa oddoola fago'oo ka worra gurra kiyya hin dhage'inii yookiin ulfinna kiyya hin dhagginii hin erga; isaan gosa biyya adda addaa oddu'utti ulfinna kiyya hin lassan.

²⁰ Isaan obboleeyyan ifii ana Mootii Waan Maraatiif kennansa dhikeessi-isaaf, gosa biyya adda addaa mara keessaa fardo'oon, garreettaa fardo'oon harkifamuun, garreetta'aan, gaange'ee fi gaalaan gara gaara kiyya woyyicha Yersaalem keessaa hin fidan; akkuma Israa'elooti kennansa midhaanii meya qulqullu'uun gara Galma kiyya Woyyichaa dhikeessanu, isaanille obboleeyyan ifii tana hin dhikeessan.

²¹ Anille isaan keessaa garii hayyootaa fi Lewwoota akka te'anuuf hin filadha.

²² «Akkuma ol-gubbooti haarettii fi latti haaretti ta ani dadu na dura haga baraa jiraatanu, sanyiin teessanii fi maqaan keessan fuula kiyya dura yenna mara hin jiraata.

²³ Baatii ji'a tokkoo irraa haga baatii ji'a kaanii, Sanbata tokko irra haga Sanbata kaanii, nami marti na waaqonfatiisaaf hin dhufa.

²⁴ Achiin duuba gad bayanee reefa kolbaa na finqiltee hin dhaggan. Corroxxi isaan nyaattu hin duutu; ibiddi isaan gubulle hin dhaamu; isaan nama mara duratti hin diqataman» jedhe.

Kitaaba Ermiyaasii Raagichaa Seensa

Ermiyaasiin raagichi dhaloota Kiristoosiitiin dura haga dhuma jaarraa torbeesso'ootii fi jalqaba jaarraa jayeesso'oo le'e. Ermiyaas tajaajila woggaa dheera'aa kana keessatti, sababa kolbaan waaqota dharaa waaqonfattee fi sababa cubbuu isaaniitiif badiin jadduun kolbaa Waaqaa akka dhaqqaddu ifi eeggachiise. Inni raaga hedduu dubbate keessaa ka asii gad jiranu bara le'ii ifii keessatti muummowanuun dhaggeera. Mootiin baabilonii Nebukadnezaar Yerusaalem qabatee, qacha'aa fi Galma Waaqaa akka digu, mootiin Yihuda'aalle kolbaa baca woliin booji'amee gara Baabilonii akka fudhatamu Ermiyaas dhaggeera. Kolbaan Israa'elii boojuu irraa akka deebituu fi mootummaan Israa'elii adde'etti akka deebitu raageera.

Kitaab Ermiyaasii raagichaa addee afuritti qoodamuu dande'a. (1) Bara mootummaa Yosiyaasii, Yehoyaaqiimii, Yehoyaaqiiniitii fi Zedeqiya'aa, jecha Waaqaa ka gara kolbaa Yihuda'aatii fi bulchitoota isaanii dhufe. (2) Raaga adda addaa, waan jiruu Ermiyaasii irratti muummowee fi barreeffama yaadannoo Baarokii barreesaa Ermiyaasii irraa dhaggame. (3) Ergaa Waaqaa ta gosa biyya adda addaa ta ormaatiif dabarte. (4) Dabarsii marroo qabamiisa Yerusaalemiitii fi marroo kolbaa booji'antee gara Baabilonii fudhatantee. Ermiyaas nama guddoo kolbaa jaalatuu fi isaan irratti muraa badi'ii dabarsiisa nama akka malee jibbu. Akka inni raagaa te'ee tajaajiluuf, Waaqi waan isa waameef, inni waan itti rakkatee gadde kitaaba kana keessatti addee baca'atti dubbateera. Jechi Mootii Waan Maraa gadhaa isaa keessatti akka ibiddaa waan te'eef, dhossee hamburatiisa hin dandeenne.

Kitaaba kana keessatti dubbii raagaa gugurdoo barreeffante keessaa gariin, bara Ermiyaasii ka rakkoo itti bacatte irra dabartee, gondoeroon haaretti Waaqi isaan woliin godhe yennaa muummottu ta mudhittu. Gondoeroon haaretti gadhaa kolba'aa keessatti waan barreeffantuuf, barsiisaan isaan qaabachiisu adoo hin jiraatin hin eegatan (31:31-34).

Haadhoo Dubbi'ii

Waamamiisa Ermiyaasii 1:1-19

Waaqi Kolbaa Yihuda'aatii fi Israa'elii akka adabu 2:1–25:38

Ermiyaasii raagota dharaa morme 26–29

Waaqi kolbaa ifi gara lafa isaaniititti hin deebisa 30–33

Tajaajila Ermiyaasii ka adda addaa 34–38

Jinnana Yerusaalemiitii fi waan Yihudaa irratti te'e 38–42

Ermiyaas lafa Gibxi'ii keessatti 43–44

Ergaa Baarookiif ergante 45

Raaga raagichi kolbaa gosa biyya adda addaa irratti raage 46–51

Jinnana Yerusaalemii 52

¹ Dubbiin Ermiyaasiin ilmi Hilqiiya'aa dubbate ta asii gad jirtu; abbaan isaa hayyoota lafa Beniyaaminii keessaa worra qachaa Anaatotii keessa jiranu keessaa tokko.

² Ilmi Amoonii Yosiyaas mootii Yihuda'aa te'ee, woggaa kudhanii sadeesso'ootitti jechi Mootii Waan Maraa gara Ermiyaasii dhufe.

³ Ammalle bara mootummaa Yehoyaaqiimii ilma Yosiyaasii mootii Yihuda'aatii, haga dhuma woggaa kudhanii tokkeessoo mootummaa Zedeqiya'aa ilma Yosiyaasiititti, wogguma san keessa haga ji'a shaneesso'oo ta

kolbaan Yerusaalemii itti booji'antetti jechi Mootii Waan Maraa gara isaa dhufe.

Waamamiisa Ermiyaasii

⁴ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

⁵ «Ani gadhaa haadha teetii keessatti adoo si hin dadin si beeke; adoo ati hin dhalatin adda si baafadhee, gosa biyya adda addaatiif, raagaa akka teetu si filadhe» naan jedhe.

⁶ Anille deebisee, «Maalo'o, Gootaa Mootii Waan Maraa, ani ijoollee waan te'eef attam akka dubbadhu hin beeku» jedhe.

⁷ Mootii Waan Maraa ammoo anaan, «Gara ani si ergu mara dhaqiitii, waan ani si ajaju mara godhi malee, «Ani ijoolle'e» hin jedhin.

⁸ Ani si baasiisaaf si woliin waan jiruuf, isaan hin sodaatin» jedhe.

⁹ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa harka ifii diriirsee hidhii tiyya tugee, anaan, «Kunoo ani jecha kiyya ka ati dubbattu afaan keeti keessa keyeera;

¹⁰ akka buqqituu fi akka diiddu, akka balleessituu fi akka garagalchitu, akka ijaartuu fi akka dhaaddu, gosa biyya adda addaatiif fi mootota irratti si muudeera» jedhe.

Ermiyaas Mudhii Lama Dhagge

¹¹ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee, «Ee, Ermiyaas! Maan dhaggiisatti jirta?» jedhee na gaafate.

Anille deebisee, «Damee muka «Almond» jedhamuu dhaggiisatti jira» jedheen.

¹² Mootiin Waan Maraalle, «Ee, sirri'itti dhaggiteerta; wonni ani jedhe haga muummottutti xiyyeeffadhee hin eega» jedhe.

¹³ Ammalle jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee, «Maan dhaggiisatti jirta?» jedhee na gaafate.

Anille deebisee, «Okkotee gara kaabaatii asi garagaltee danfitu takka dhagga» jedhe.

¹⁴ Mootiin Waan Maraalle anaan, «Gara kaabaatiin kolbaa lafa irra leetu mara irratti badiin hin dhutti» jedhe.

¹⁵ Mootiin Waan Maraa, «Kunoo ani kolbaa mootummoota kaabaa keessa jirtu mara hin waama; moototi isaanii dhufanee, Yerusaalemii fi adaala dalleya isi'ii ka dhaka'aa mara, qachoota Yihuda'aa mara lolanee, barcumaa mootumma'aa ifii seensuma karra Yerusaalemii keessa hin keyatan.

¹⁶ Kolbaan tiyya na lakkittee waan hantuu hujjee, waaqota dhibi'iif hix-aana aarsitee, waan harka ifitiin hujje waan waaqonfataneef, ani isaanitti hin mura.

¹⁷ Ati ammoo ka'iitii hidha keeti hidhadhuu, waan ani si ajaju mara isaanitti himi. Ati isaaniif hin bararaqin; yoo bararaxxe, akka ati isaan duratti bararaxxu godha.

¹⁸ Ati lafa Yihuda'aa mara, mootota Yihuda'aa, bulchitoota isi'ii, hayyoota isi'iitii fi kolbaa lafa sanii mara akka injifattuuf, kunoo, ani adha akka qachaa dalleya dhaka'aa qabuu, akka utubaa sibiilaa, akka dalleya sageettu'uu si godheera.

¹⁹ Isaan si hin lolan, ani ammoo si baasiisaaf, si woliin waan jiruuf, isaan si hin injifatanu» jedhe.

2

Kolbaan Israa'elii Waaqa ifii Lakkitte

¹ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

² «Dhaqiitii qoonqoo teeti ol qabadhuu, kolbaa qachaa Yerusaalemiitiin, Mootiin Waan Maraa, «Addatamummaa teessan ta yennaa dar-gaggumma'aa, jaalala keessan ka akka waajibittiin dhirsa ifii jaalattuu, goomolee lafa sanyiin hin facaafanne keessatti attam akka na hordottane hin qaabadha.

³ ««Kolbaan Israa'elii
ana Mootii Waan Maraatiif woyyoonteerti;
akka midhaan mata'aa ti;
nama isaan miidhe maratti yakkaan muranteerti;
badiille isa dhaqqaddeerti jedheera» jedhii himi» jedhe.

⁴ Ee, isin sanyii Yaaqoobii,
firri sanyii Israa'elii marti
jecha Mootii Waan Maraa dhage'a'a!

⁵ Mootiin Waan Maraa,
«Abbootiin teessan ta durii
balleessaa maanii na irratti dhagganee,
na irraa fagaatanee,
waaqota dharaa ka gatii hin qanne waaqonfatanee,
ifille'eef worra gatii hin qanne te'ane?

⁶ Isaan, «Waaqi biyya Gibxi'ii keessaa nu baasee,
lafa goomolee keessa,
lafa boboollittii keessaa fi gammoojjii keessa,
lafa goddu'uu fi dukkana dimma keessa,
lafa nami keessa hin ideennee fi
lafa nami keessa hin leene keessa
ka nu sooresse eessa jira?» jedhane hin gaafanne.

⁷ Ani midhaan isi'iitii fi waan dansaa isiin baattu,
akka isii irraa nyaattanuuf
gara lafa laayyo'oo, isin fide;
isin ammoo yennaa achi galtane lafa tiyya batteessitane,
lafa tiyya akka jibbatantu gootane.

⁸ Hayyooti, «Mootiin Waan Maraa eessa jira?» jedhane hin gaafanne;
barsiisoti seeraa na hin beenne;
sooressitooti na irratti ka'ane;
raagoti maqaa ba'aaliitiin raagane,
waaqota dharaa ka gatii hin qanne hordofane.

⁹ «Tanaaf ani Mootiin Waan Maraa isiniin hin morma;
ijoollee ijoollee teessaniitille'een hin morma.

¹⁰ Tanaan qara wonni akkasii yoo teetee jiraatte,
gara lafa Qophiroosii ta dur,
«Kiitiim» jedhantuu gamatti bu'a'aatii ilaala'a;
gara lafa, «Qedaar» jedhantuulle nama erga'aatii qorqora'a.

¹¹ Waaqota dharaa te'anulle,
kolbaan waaqota ifii jijjiirte hin jirtu;
kolbaan tiyya ammoo ana Waaqa ulfinna isaanii te'e
waaqota dharaa ka gatii hin qannetti jijjiirte.

¹² Ee ol-gubba'a, waan kana baaseffadhu;
sodaa guddo'oon holladhu.

¹³ Kolbaan tiyya cubbuu lama hujjeerti;
isaan ana madda bisaan jiru'uu lakkisane,

- boolla urata qaddu ta bisaan itti hin eelle qotataneeran.
- 14 Israa'el garbichaa? Yookiin garba manatti dhalatee?
Yoo akkas hin te'in maaf diinni isa saama ree?
- 15 Diinoti isa irratti akka neenqaa harqaneeran;
lafa isaa balleessaneeran;
qachooti isaa gubatanee, ona te'aneeran.
- 16 Worri qachaa Memfiisiitii fi qachaa Taahafeneesii
rifeensa mataa keetii haadane.
- 17 Ee Israa'el, ana Mootii Waan Maraa Waaqa keeti
ka karaa keeti si sooresse lakkittee,
kana mara ifi irratti fiddee motii ree?
- 18 Bisaan laga Shiihorii uniisaaf gara
biyya Gibxi'ii maaf dhaxxe?
Bisaan laga Efraaxiisiille uniisaaf
gara biyya Asoorii maaf dhaxxe?
- 19 Hammeenni keeti akka adabantu si hin godha;
naaf addatamummaa dhabiiis keeti
akka xixantu si hin godha.
Ana Mootii Waan Maraa Waaqa keeti
sodaatiisa waan lakkitteef,
wonni hantuun hadhoothuun
akka sitti dhuttu hubadhuu beeki!
- 20 «Ee Israa'el! Ani bara duriitii jalqabee
waanjoo teeti si irraa caccassee,
hidhaa teeti si irraa kukkuteera;
ati ammoo, «Ani si hin tajaajilu!» jettee,
kooba dheertuu gubba'aa fi muka banqaaqaa jalatti
sagaagaliisaaf irkatteerta.
- 21 Ani akka muka woyni'ii filatamaa
ka sanyiin isaa dansa'aa si dhaabeeyyu;
ati attam akka muka woyni'ii badaa,
ka baddaa keessaa teetee,
na duraa jijjiirante ree?
- 22 Haraanja'aa fi saamunaa baca'aan dhiqattelle
xuriin yakkaa teetii haga ammaa fuula kiyya dura jirti.
- 23 «Ati attam, «Ani hin battoonne,
Ba'aalille hin hordonne» jetta ree?
Dhooqa keessatti maan akka hujje yaadadhu;
waan achi keessatti goote hubadhu.
Ati akka gaala dhala'aa
ka raragatee asii fi achi fiiguu ti.
- 24 Ati akka harree diidaa ta goomolee keessa le'iisa baratte,
ta yennaa rarragatte qilleensa suuttuu ti;
rarragata isi'ii eentu qabbaneessuu dande'a?
Ji'a isiin rarragatte san korommiin isii barbaadu,
rakkinna malee isii laddatan*.
- 25 Ati haga kopheen miila keeti irraa dhumattutti,
haga dheebottee laagadaan si gogutti hin rukkin;
ati ammoo, «Na dhooggiis keeti gatii hin qabu;
ani waaqota ormaa jaaladheera;

* 2:24 Laddatan: Lafa tokko tokkotti Doogamanjedhan.

- ani isaan hordofa» jette.
- 26 Hattuun yennaa qabante akkuma qaanottu,
kolbaan Israa'elii, moototi isi'ii,
qondaaltoti isi'ii,
hayyootii isi'iitii fi
raagoti isi'ii marti hin qaanowan.
- 27 Isaan mukaan, «Ati abbaa keenaa»,
dhakaa waaqota dharaatiin, «Sittuu nu deye» jedhan.
Isaan dudda ifii gara kiyya deebisane malee,
fuula ifii gara kiyya hin deebinne.
Yennaa rakkinnaa ammoo,
«Koyii nu fayyisi» jedhan.
- 28 Ee worra Yihuda'aa,
waaqoti dharaa ka isin hujattane meeti ree?
Isaan yennaa rakkinna keessanii yoo isin fayyisanu teete,
dhufanee isin fayyisanuu ti.
Akkuma qachaan keessan baca'aa,
waaqoti keessanille baca'a.
- 29 Isin martinuu, na irratti kaataneertan;
maaf na komattan ree?
- 30 Ani akkasumaan kolbaa teessan adabe malee,
isaan ifi hin sirreessine.
Akka neenqa beelowee
shallaagaa keessaniin raagota teessan fixxane.
- 31 «Isin dhalooti bara kanaa,
jecha Mootii Waan Maraa hubadha'a!
- «Ani Israa'eliif goomolee
yookiin lafa dukkana dimmaa te'ee ree?
Kolbaan tiyya maaf, «Nuuti waan feene goona,
haganaa achi gara keeti hin deebinu» jetti?
- 32 Durri seesa ifii
yookiin waajibittiin woyaa ifii
ta waajibumma'aa hin deetii ree?
Kolbaan tiyya ammoo
bara bacaa na deeteerti.
- 33 «Ati worra si jaalatu gula deemiisaaf
attam qaroomatte?
Dubartooti akka malee hantu'uutuu
waan kana si irraa baratan.
- 34 Dhiigi worra hiyyeeyyii yakkaa hin qannee,
ka hanna irratti hin qabaminii
woyaa teetii irratti dhaggama;
kana mara gooteelle,
- 35 «Ani yakkaa hin qabu;
dhugumaan Mootiin Waan Maraa natti hin aaru» jetta.
Sababa ati, «Ani cubbuu hujee hin jiru» jetteef,
ani si'itti hin mura.
- 36 Ati maaf karaa keeti jijjiiratta?
Akkuma worri Asoorii si qaanesse,
akkasuma worri Gibxi'iille si hin qaanessa.
- 37 Worra ati itti addatte Mootiin Waan Maraa waan tuffateef,

isaanille si qarqaaruu waan hin dandeenneef,
ati mataa qabattee, achii keessaa hin baata» jedha.

3

Addatamummaa Dhaba Israa'elii

¹ Mootiin Waan Maraa, «Nami tokko niitii ifii yoo lakkise, isiille isa lakkittee nama dhibii yoo heerumte, deebi'ee isii galfatiisa dande'aa ree? Latti ijjumaa hin battoottuu ree? Ati worra si jaalatu woliin sagaagalteerta; amma ammoo gara kiyya deebi'uu barbaaddaa ree?

² Qaccee koobota goddu'uu ol ilaali! Addeen ati irratti hin sagaagalle jirtii? Akkuma worri Arabaa lafa goomole'ee keessatti nama saamiisaaf eegatu, akkasuma atille karaa keessa teetee worra si jaalatu eegatte. Sagaa-galummaa'aa fi hammeenna keetiin lafa batteessite.

³ Tanaaf tiifuun dhabantee, bokkeenni hageyyaalle bade. Ati ammalle amala sagaagalummaa'aa waan qadduuf, qaanii dhaddeerta.

⁴ «Ammalle ati na waamaa, «Abbaa kiyya, bara ijoollummaa tiyyaatiin jalqaddee jaala ka naa teete,

⁵ ati yennaa mara aartaa? Aariin teeti haga bara baraatii?» jedhaa, ammoo hammeenna hujuu dandeettu mara hujja» jedhe.

Israa'elii Fi Yihudaan Cubbuu Irraa Akka Deebi'anu Waamamane

⁶ Bara Yosiyaas mootii te'eeru Mootiin Waan Maraa anaan, «Israa'eliin addatamummaa hin qanne waan hujje dhaggitee? Isiin kooba dheertuu gubba'aa fi muka banqaaqaa mara jalatti sagaagalteerti.

⁷ Tana mara gooteen duuba gara kiyya hin deebiti seyeeyyu; isiin ammoo hin deebine; obboleettiin isi'ii Yihudaan ta hin addatannelle tana dhaggi-teerti.

⁸ Ani Israa'elii dhugeeffannaa hin qanneef, sababa gaarayyeffata isi'ii maraaf woraqata lakkeessaa kenneefii ari'e; te'uu malee obboleettiin isi'ii Yihudaan ta addatamummaa hin qanne, tana dhaggitee akka hin sodaanne ani dhagge; isiille baatee sagaagalte.

⁹ Isiin sagaagalummaa ifitiin lafa batteessitee, dhaka'aa fi muka waaqon-fatte.

¹⁰ Tun marti teetee, obboleettiin isi'ii Yihudaan ta addatamummaa hin qanne soddee gara kiyya waan deebite fakkaatte malee, gadhaa tokkochaan gara kiyya hin deebine» jedhe.

¹¹ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa anaan, «Yihudaa addatamummaa hin qanne caalaa Israa'elii dhugeeffannaa hin qannetti balcha'a.

¹² Dhaqiitii ergaa tana worra gara kaabaatitti lallabiitii, «Ee Israa'elii addatamummaa hin qanne gara kiyya deebi'i; ani mararaa waan te'eef haganaa achi ila aari'iitiin si hin ilaalu; haga bara baraa sitti hin aaru.

¹³ Ati ana Mootii Waan Maraa Waaqa keeti finqiltee, naaf ajajamiisa dhabiisaan muka banqaaqaa mara jalatti, ulfinna keeti waaqota ormaatiif waan kenniteef, yakkuma teeti callaa beeki» jedhi.

¹⁴ «Ee kolbaa addatamummaa hin qanne, ani abbaa manaa keessan waan te'eef, gara kiyya deebia'a'a! Ani isin keessaa qachaa tokko tokko keessaa nama tokko tokko, fira tokko tokko keessaa nama lama lama filee, gara Xiyoonii hin fida.

¹⁵ Ani tissitoota worra akka gadhaa kiyyaa isiniif hin kenna; isaanille beekkumsaa fi hubanti'iin isin hin sooressan.

¹⁶ Bara san yennaa laakkossi keessan lafa irratti bacatu, namooti, «Saan-duqa Gondooro'oo ka Mootii Waan Maraa» jedhanee hin waamanu yookiin

hin qalbeeffatanu yookiin hin qaabatanu; Saanduqa Gondooroo Mootii Waan Maraa ka dhibiille hin hujanu.

¹⁷ Yennaa san isaan Yerusaalemiin, «Barcumaa mootummaa Mootii Waan Maraa» hin jedhan; gosi biyya adda addaa marti ulfinna naa kenniisaaf Yerusaalem keessatti wolitti hin qabanti. Achiin duuba isaan mataa jabinnaan fedhii hantuu gadhaa ifii hin hordofanu.

¹⁸ Bara san sanyiin Yihuda'aatii fi sanyiin Israa'elii lafa kaabaa ta itti booji'amane irraa wolitti deebi'anee, gara lafa ani abbootii isaaniitiif kennee hin dhufan.

Kolbaan Waaqaa Waaqa Dharaa Waaqonfatte

¹⁹ «Ani Mootiin Waan Maraa lafa gammachiittu, lafa kolbaa biyya dhibi'ii mara caalaa dansa'aa, si'iif kenniisaaf, akka ilmaan tiyyaatitti attam attam sitti gammada.

Ati, «Abbaa kiyya» jettee na hin waanta;

«Na hordofiisa irralle'ee hin deebitu» jedhee yaadadheeraayyu.

²⁰ Ee sanyii Israa'elii, isin ammoo akka niitii dhirsa ifiitiif hin addatannee, isinille naaf hin addatanne» jedhe.

²¹ Kolbaan Israa'elii, Mootii Waan Maraa Waaqa ifii deetee, karaa cubbu'uu waan hordotteef, iyyi bowiisaatii fi daadimata isaanii qaccee koobota goddu'uu irraa hin dhage'anti.

²² Isin kolbaan addatamummaa hin qanne, addatamumma'aan gara isaa deebi'a'a! Inni adde'etti isin deebisee, worra addatamaa isin hin godha.

Isinille, «Inni Mootii Waan Maraa Waaqa keenaa waan te'eef, gara isaa hin deebina.

²³ Koobotaa fi gaarota irratti waaqota dharaa waaqonfatiis gowwumma'a; dhugumaan Israa'el Mootii Waan Maraa Waaqa keennaan fayyiti.

²⁴ Bara ijoollummaa teennaatii jalqabane waaqoti salphiyyeen sun eloo abbootii teennaa, hoolee isaanii, horii isaanii, ilmaan isaaniitii fi durra isaanii mara nyaatane.

²⁵ Nuutii fi abbootiin teenna ijoollummaa teennaa jalqannee, haga adhaatitti Mootii Waan Maraa Waaqa keenaa irratti cubbuu hunyee, isaafille waan hin ajajaminiif, qaani'iin gad jinnnee, salphinna akka woaya'aa uffannuu ti» jettaneertan.

4

Waamicha Cubbuu Irraa Deebi'iisaa

¹ Mootiin Waan Maraa, «Ee kolbaa Israa'elii, yoo deebi'uu barbaaddane, gara kiyya deebi'a'a; waaqota dharaa keessan battii san ila tiyya duraa balleessitane, worra addatamaa yoo naaf teetane,

² dhuga'aan, haqaa fi balchumma'aan, «Dhugaa Mootii Waan Maraa ka jiraataa te'ee» jettanee yoo kakattane, gosi biyya adda addaa isaan hin eebbifanti; ulfinnalle isaan hin dhaggatti» jedha.

³ Mootiin Waan Maraa kolbaa Yihuda'aatii fi kolbaa Israa'eliitiin, «Lafa hin qotamin qota'a; odduu qore'eetitti hin facaasina'a.

⁴ Isin kolbaan Yihuda'aatii fi worri Yerusaalem keessa leetanu, ana Mootii Waan Maraa keessaniif adda ifi baasa'a; yoo diddane sababa hujii hantuu

teessaniitiif aariin tiyya akka ibiddaa bobeettee isin hin fixxi; ka isii dhaanfu hin jiru.

- ⁵ «Lafa Yihuda'aatii fi Yersaaleemii keessatti tultullaa afuufaa, qoonqoo teessan ol qabadha'aatii, «Wolitti qabama'a! Gara qachoota dalleya dhaka'aa qabuu baqannuu ti!» jedha'a.
- ⁶ Ani gara kaabaa irraa bala'aa fi badii guddoo waan fiduuf, baandiraa qabadha'aatii, adoo hin turin gara Xiyoonii baqadha'a.
- ⁷ Ka gosa biyya adda addaa balleessu akka neenqa gongomaa keessaa bayuu, lafa teessan balleessiisaaf, qachoota keessan diigee, nami tokkolle akka keessa hin jiraanne godhiisaaf, addee ifii irraa karaa irratti bayeera» jedha.
- ⁸ Maarre mufiin Mootii Waan Maraa ta akka ibiddaa bobeettu, waan nu irraa hin deebi'iniif, woyaa gaddaa uffadha'aatii, wiiccifadha'aatii bowa'a.
- ⁹ Mootiin Waan Maraa, «Guyyaa san mootichii fi qondaaltoti isaa addii hin kutatan; hayyooti hin sheephitti; raagotille hin rifatti» jedhe.
- ¹⁰ Achiin duuba ani, «Maaloo, Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dandeettu, shallaagaan adoo morma keenaa irratti aggatamee jiruu, ati «Nageenni isiniif hin te'a» jedhaa kolbaa tanaa fi Yersaaleemii attam attam sodde ree!» jedheen.
- ¹¹ Mootiin Waan Maraa, «Yennaa san kolbaa tanaa fi Yersaaleem irratti, qilleensi gubu qaccee koobota goddu'uu irraa gara kolbaa tiyyaa hin dhowa; qilleensi sun ammoo midhaan hafarsiisaaf yookiin qulleessiisaafii moti.
- ¹² Ani isaanitti waan muruuf, qilleensi akka malee jaba'aa ajaja kiyyaan ergamee hin dhufa» jedhe.
- ¹³ Yennaa san ani, «Kunoo, diinni akka duumensaa, garreettaan isaanii ka fardaan harkifamu akka hobonbolatti'ii dhufan; fardooleen isaanii risaa caalaa xinnixxi; banne, aanne'e nu'uuf.
- ¹⁴ Ee Yersaaleem, akka fayyittuuf, hammeenna gadhaa keeti keessaa dhiqadhuu baasi; haga yoomii hammeenni si keessa jiraata?
- ¹⁵ Qachaa Daanii keessaa qoonqoon hin dhage'anti; koobota Efreemii irralle'ee badiin hin lallabanti.
- ¹⁶ Waan kana gosa biyya adda addaatitti hima'a; Yersaaleemille'etti lassa'aatii, «Loltooti si marsitu biyya fago'oo irraa hin dhufan; qachoota Yihuda'aa loliisaaf, itti hin caancaan.
- ¹⁷ Yersaaleem na irratti waan kaateef, akka namooti fichaa eegatanu, diinoti Yersaaleem hin marsan» jedha'a» jedhe.
- ¹⁸ Ee Yihuda'a, ideensi keetii fi hujiin teeti tana si'itti fidde; tun adabama keeti; adabamiis keeti kun attam attam hadhowa'a; gadhaa keeti keessa dhaqqabeera.
- ¹⁹ Hoola farra tiyya! Hoola farra tiyya! Ani dhibe'een gugguufe. Hoola laalaa gadhaa kiyyaa! Ani qoonqoo tultulla'aatii fi iyya lolaa waan dhage'eef, gadhaan kiyya na dhowata; ani ossuu hin dande'u.
- ²⁰ Badiin badii irratti dhutteerti; latti duudiin onteerti; dunkaaniin tiyyaa fi gollaan kiyya dedhuma badaneeran.

- 21 Ani haga yoomii baandiraa lolaa ilaala?
Haga yoomii qoonqoo tultulla'aalle dhage'a?
- 22 Kolbaan tiyya gowwaa waan teeteef,
na hin beettu.
Isaan ijoollee woy hin baane,
ta hubantii hin qanne.
Isaan waan hantuu hujiisaaf ogeeyyi'i;
ammoo waan dansaa attam akka hujanu hin beekanu.
- 23 Ani lafa ilaale; kunoo isiin akka hin qaddu; duwwaalle'e.
Ol gubbaalle ilaale; ifille irra hin jiru.
- 24 Ani gaarota ilaale; kunoo, isaan tacho'iisatti jiran;
koobotille martinuu raafamiisatti jiraniyyu.
- 25 Ani ilaale; kolbaan achi hin jirtu;
sinbirreen marti kaatee baddeerti.
- 26 Ani ilaale; latti midhaan baachu goomolee teete;
aarii jadduu Mootii Waan Maraatiin
qachooti martinuu Mootii Waan Maraa duratti diigameera.
- 27 Mootiin Waan Maraa,
«Latti marti ona hin teeti;
te'uu malee, ani ijjumaa hin balleessu.
- 28 Ani waan dubbadheef,
yaada kiyyalle waan hin jijjiireef,
ani murteeffadhee duubatti waan hin deebineef,
latti hin bootti;
ol-gubbaalle hin dukkanootti» jedha.
- 29 Hogaa abbootii fardo'ootii fi worra guube'een loluutiin
nami qachaa keessaa marti hin baqata.
Gariin gongomaa keessa hin seenan;
gariin rassaa hin yaaban.
Qachooti martinuu duwwaa hin hafan.
Nami tokkolle keessa hin le'u.
- 30 Isin kolbaa baddane,
maan hujiisatti jirtan?
Woyaa diintuu uffattanee,
seesa worqi'iille naqattanee,
ila teessan maaf kuula dibatane ree?
Isin akkasuma ifi seefattane malee,
worri dur isin jaalatu,
isin tuffateera;
isaan isin ijjeesiisaaf barbaadan.
- 31 Ani aadiisa akka dubartii ciniinsifattuu,
ta finna qaraa deettuu takka dhage'e.
Tunille iyya kolbaa Xiyoonii
ta harka ifi diriirsitee,
«Aanne'e! Nuuti gagganne!
Harka worra nu ijjeesuutitti dabarfannee kennanne» jettu.

5

Cubbuu Yerusaalemii

- 1 Mootiin Waan Maraa, «Karaa Yerusaalemii irra olii fi gad ideema'a;
adaala isi'ii ilaala'aatii hubadha'a
badhinna isi'ii keessa barbaada'a.
Nama haqa huju fi

- nama dhugaa barbaadu tokko yoo dhaggitane
ani qachaa kanaaf hin araarama.
- ² Kolbaan, «Dhugaa Mootii Waan Maraa
ka jiraataa te'ee» jettulle,
dharaan kakatti» jedha.
- ³ Ee Mootii Waan Maraa! Ilti teeti dhugaa hin dhaggituu ree?
Ati isaan dhootte; isaan ammoo hin dhukkuffanne.
Ati isaan butuchite; isaan ammoo ifi sirreessuu didane.
Isaan dhakaa caalaa mata-jabeeyyii te'anee, cubbuu ifi irraa deebi'uu di-
dane.
- ⁴ Achiin duuba ani, «Worri kun karaa Mootii Waan Maraa,
seerata Waaqa ifille waan hin beenneef,
isaan worra hiyyeeyyi'i;
gowwootalle'e» jedhee yaade.
- ⁵ Maarre ani gara sooreyyii Yihuda'aa dhaqee,
isaanitti hin dubbadha;
isaan dhugumaan karaa Mootii Waan Maraa,
seerata Waaqa ifille hin beekan.
- Te'uu malee, isaan martinuu
baallii Mootii Waan Maraa jalaa bayanee,
isaaf ajajamiisa didaneeran.
- ⁶ Tanaaf, Yakkaan isaanii guddoo waan teeteef,
Waaqaaf addatamummaa dhabiis isaanii waan heddatteef,
neenqi gongomaa keessaa bayee isaan hin ijjeesa;
yayyiin goomolee keessaa isaan hin kukkutti;
qeeransille nama gad bayu mara kukkutiisaaf,
adaala qachaa isaaniititti isaan hin gaada.
- ⁷ Mootiin Waan Maraa, «Ijoolleen teessan na lakkittee,
waaqota dharaatiin waan kakatteef,
ani attam yakkaa teessan isiniif araarama ree?
Ani nyaachisee yennaa isaan quusse,
isaan ammoo sagaagalane;
mana sagaagaltootaatitti qonfoodane*.
- ⁸ Akka farda korma falanee, gaanaaf rarragatuu te'ane.
Tokko tokkoon isaanii niitii jaala ifi fari'atan.
- ⁹ Ani waan kanaaf isaan hin adabuu ree?
Kolbaa waan akkanaa hujju haluu hin bayuu ree?
- ¹⁰ Gara muka woyni'ii ka kolbaa tiyyaa ol baya'aatii balleessa'a!
Ammoo ijumaa hin balleessina'a;
dameeleen isaa tiyya waan hin te'iniif
irraa cira'a.
- ¹¹ Kolbaan Israa'eliitii fi Yihuda'aa
ijumaa naaf hin addatanne» jedha.
- ¹² Isaan Mootii Waan Maraa irratti dhara dubbatanee, «Inni womaa nu hin
godhu; hantuulle nutti hin dhuttu; woraana yookiin beelalle ijumaa hin
dhagginu.
- ¹³ Raagoti akka qilleensaati malee, jechi Waaqaa isaan keessa hin jiru;
wonni isaan dubbatanu isaanumatti garagaltuu ti!» jedhan.
- ¹⁴ Tanaaf Mootiin Waan Maraa Waaqi Waan Mara dande'u, «kolbaan jecha
akkasii waan dubbatteef anaan, «Inni womaa nu hin godhu» waan jetteef, ani

* 5:7 Qonfoodane: Wolitti qabamane.

jecha kiyya afaan keeti keessatti akka ibiddaa, kolbaa tanalle akka qoraanii hin godha; ibiddille isaan hin fixa.

¹⁵ Ee kolbaa Israa'elii! Ani kolbaa isin irratti kaatu biyya fago'ootii hin fida; Kolbaan tun, kolbaa jaddu'uu fi kolbaa bara durii ta isin afaan isaanii hin beennee fi waan isaan dubbatanu hin hubanne.

¹⁶ Gonofaan daaya isaanii akka boolla awwaalaa ta banantee ti; marti isaanii loltoota jajjaba.

¹⁷ Isaan midhaanii fi sagalee teessan hin nyaatan; ilmaanii fi ijoollee durraa teessan hin ijjeesan; hoole'ee fi horii keessan, muka woyni'itii fi muka harru'uu keessan nyaatanee hin fixan. Qachoota keessan ka dalleya dhaka'aa qabanu, ka isin itti addattane shallaaga'aan diigane hin balleessan.

¹⁸ «Te'uu malee ani Mootiin Waan Maraa, guyyoota san kolbaa tiyya ijjumaa hin balleessu.

¹⁹ Kolbaan, «Mootiin Waan Maraa Waaqi keenna waan akkasii kana mara maaf nu irratti godhe?» jedhanee yoo si gaafatane, ati isaaniin, «Akkuma isin na lakkittanee, lafuma teessan keessatti waaqota ormaa tajaajiltane, lafa teessan hin te'inille'etti orma hin tajaajiltan» isiniin jedha» jedhiin.

²⁰ Mootiin Waan Maraa, «Dubbii asii gadii tana sanyii Yaaqoobiittitti hima'a; kolbaa Yihuda'aatile'etti lassa'a:

²¹ Isin kolbaan gowwoole'ee fi hubantii hin qanne, tana dhage'a'a; isin ila qaddan ammoo hin dhaggitanu, gurralle qaddan ammoo hin dhageettanu,

²² isin na hin sodaattanuu ree? Na duratti hin hollattanuu ree? Meessaa abbaaya'aa akka te'uuf maansa ka keye ana; abbaayaan meessaa san irra haga bara baraa hin dabartu; danbaliin kaatulle isa irra hin dabartu; abbaayaan huursitelle isa irra hin qaxxaamurtu.

²³ Kolbaan tun ammoo mata-jabeeyyii fi ta na finqilte; isaan na irraa deebi'anee deemanee.

²⁴ Isaan gadhaa ifii keessalle'etti, «Mootiin Waan Maraa Waaqa keenna, ka bokkeya duraatii fi duubaa yennaa yennaa isaatitti nu'uuf kennu, midhaan yennaa isaatitti akka galfannu ka nu'uuf godhu kowaa sodaannaa» hin jedhanu.

²⁵ Yakkaan teessan tana isin irraa hamburteerti; cubbuun teessanille waan dansaa isin dhassiitteerti.

²⁶ «Worri hamaan ka akka nama sinbirree tiyyo'oon qabuu, dhokatee nama qabu odduu kolbaa tiyyaa jira.

²⁷ Akkuma manni sinbirre'eef ijaarame sinbirre'een guutamu, manni isaanii waan isaan sobaan dhaggataneen guutameera; tanaaf isaan worra gugurda'aa fi dureeyyii te'aneeran.

²⁸ Isaan gabbatanee cululuqaneeran; hammeennii isaanii haga hin qabu; ijoollee abba'aa fi haadha hin qanneef haqaan hin murre; mirga worra hiyyeessaatiifille hin falmine.

²⁹ Ani Mootiin Waan Maraa, Waan akkasii kanaaf, isaan hin adabuu ree? Kolbaa akkasii tana ani haluu hin bayuu ree?

³⁰ Wonni guddoo nama sodaachisuu fi bararassu lafa irratti te'eera.

³¹ Raagoti sobaan raaga dubbatti; hayyooti gorsa raagotaatiin bulchiti; kolbaan tiyyalle waan akkasii kana jaalatti; yennaa muummeen dhuttu ammoo isin maan gootan ree?» jedha.

6

¹ Ee kolbaa Beniyaamii, wonni hantu'uu fi badiin guddoon gara Kaabaatiin waan dhufaartuuf, Yerusaalem keessaa baya'aatii baqadha'a! Teqo'aa keessatti tultullaa afuufa'aatii Bet-Hakereem irratti beessisa lolaa ol kaasa'aatii mudhisa'a.

² Qachaa Xiyoonii miidhaga'aa fi ka gammachiisu ani hin balleessa.

³ Akkuma tissitooti naannoo takka qubatanee horii ifii tiffatanu, moototi diinaa loltoota ifii woliin dhufanee, adaala isi'iititti dunkaanii ifii hin dhaab-batan.

⁴ Isaan, «Qachaa Yerusaalemii loliisaaf qophowa'a! Ka'a'a! Saafowaan lollaa! Latti waan dhiyaartuuf, gaaddiduulle dheerataa waan deemaa jirtuuf, aannee nu'uuf.

⁵ Maarre ka'a'a! Halkaniin lollee, kushee qachaa Yerusaalemii san diinna» jedhan.

⁶ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Qachaan Yerusaalemii ka cunqursiisaan guutame kun akka adabamuuf, mukoota mura'aatii naan-nessa'aatii kaabii itti ijaara'a.

⁷ Akkuma boolli bisaanii bisaan madditu, qachaan Yerusaalemiille madda hammeennaa ti; hunnaan nama irratti ka'iisii fi badiin achi keessatti hin dhage'anti; ani dhibe'ee fi madaa yennaa mara achii keessatti dhagga.

⁸ Ee Yerusaalem, ifi eeggadhu! Yoo hin te'in ani lafa teeti onsee nami tokkolle akka keessa hin leene hin godha» jedhe.

Finqiliisa Israa'elii

⁹ Ammalle Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Akkuma woxoo midhaan woyni'ii qocanu, kolbaa Israa'elii keessaa worra hafe qoca'a. Akkuma nami midhaan woyni'ii damee irraa qocu, harka keessan diriirsa'aatii am-malle worra hafe qoca'a» anaan jedhe.

¹⁰ Anille deebisee, «Ani eennutti dubbadha? Eennu ifi eeggachiisa? Eentu naa dhage'a? Gurri isaanii waan duudeef hin dhage'anu. Jecha Mootii Waan Maraatitti hin murgan; itti hin gammadanulle'e.

¹¹ Aariin Mootiin Waan Maraa isaan irratti qabu na keessalle'etti bobe'aarti; ossiisalle hin dande'u» jedhe.

Achiin duuba Mootiin Waan Maraa anaan, «Ijoollee karaa irratti, dargag-goota wolitti qabamane irratti aarii tiyya dhangalaasi; abbaa manaatii fi haati manaa, worri dulloomee jaajjelle hin booji'aman.

¹² Worra lafa kana keessa le'u yennaa adabu, manni isaanii, fichaan isaaniiitti fi niitoti isaanii worra dhibi'iif dabarfamanee hin kennaman.

¹³ Nami isaanii gudda'aa fi diqqaan marti bu'aa sobaan dhaggatanuuf worra joljolu waan te'aneef, raagotii fi hayyooti isaanii marti nama hin soban.

¹⁴ Isaan madaa kolbaa tiyyaa akka kaso'oo ilaalanee, adoo nageenni hin jiraatin, «Nageya, Nageya» jedhan.

¹⁵ Isaan waan jibbisiisu waan hujaneef qaanowaneeranii ree? Waawwo'o ijjumaa hin qaanonne; isaan qaaniin maan akka teeteeyyuu hin beekanu. Tanaaf worra jigu woliin hin jigan; ani yennaa isaan adabulle hin salphatan» jedhe.

Israa'el Karaa Waaqaa didde

¹⁶ Mootiin Waan Maraa, «Qaxxaamura kara'aa irra dhaabbadha'aatii ilaala'a; daandii durii, karaa dansaa gaafadha'aatii irra ideema'a; lubbuu teessaniifille foora hin dhaggatan» jedhe.

Isin ammoo, «Nuuti isa irra hin ideennu» jettane.

¹⁷ Ani eeddota isiniif kennee, «Qoonqoo tultulla'aa dhage'a'a» jedhe; isin ammoo, «Hin dhageennu» jettane.

¹⁸ Tanaaf Mootiin Waan Maraa, «Isin gosi biyya adda addaa dhage'a'a! Isin worri asitti wolitti qabantane, waan kolbaa Yihuda'aa irratti te'uuf jiru qalbeeffadha'a.

¹⁹ Ee, lafa dhage'i! Kolbaan tun jecha kiyya waan hin dhage'iniif, seera kiyyalle waan tuffatteef, gatii hujii isaaniitiif, badii isaan irratti hin fida.

²⁰ Hixaanni biyya Sheeba'aatii dhufuu fi dakkarri biyya fago'ootii dhufu maan naaf godha? Ani kennansa gubamu ka isin dhikeessitanu hin fudhadhu; ciincaan isin dhikeessitanulle na hin gammachiisu.

²¹ Tanaaf ani kolbaa tana dura gufuu hin keya; abbooti'ii fi ilmaan gufuu sanii hin gufatan; olla'aa fi jaaloti hin badan» jedhe.

Loltoota Gara Kaabaatiin Dhuttu

²² Mootiin Waan Maraa, «Kunoo, loltooti biyya gara kaabaa irraa dhufiisatti jirti; kolbaan guddoon biyya fago'oo lolaaf qophowiisatti jirti.

²³ Isaan guube'ee fi eboo qabataneeran; isaan worra gadhi-jabeeyyi'ii fi worra marartii hin qanne. Fardoo ifiitiin yennaa gulufanu, hididdeettiin akka abbaayaa bulphittuu ti. Ee kolbaa Xiyoonii! Isaan isin loliisaaf qophowanee hin dhufan» jedha.

²⁴ Kolbaan Yerusaalemii ammoo, «Nuuti oduu isaanii dhageennee, harki nu irraa bu'eera; gaddi guddaan nu qabatee akka dubartii ciniinsifattuu teeneerra.

²⁵ Diinni keenna shallaagaa waan qabuuf, gara mara sodaan guddoolle waan jirtuuf, gara alaa hin bayina'a; yookiin karaa irra hin ideemina'a» jetti.

²⁶ Ee kolbaa tiyya, diinni isin balleessu dedhuma waan dhufuuf, woyaa gaddaa uffadha'aatii daadhaa keessa gangaladha'a; akka nama ilma tokkochuma qabuuf laaleffatee bowuu, laaleffadha'aa bowa'a.

²⁷ Mootiin Waan Maraa, «Ee Ermiyaas! Akka nama sibiila sibiilummaa isaa haga ilaalu, karaa kolbaa tiyyaa hubatee akka haga ilaaltu, si godheera.

²⁸ Isaan martinuu akka sageettu'uutii fi akka sibiila ciillayee mataa jabeeyyi'i; finqiltootalle'e. Isaan martinuu hami'iif asii fi achi deemaa, hujii hantuu hujan.

²⁹ Irsaasa* ibiddaan baqisiisanee qulleessiisaaf buufaa akka malee itti buufan; ammoo ciillaan irsaasa irraa hin ka'u; akkasuma worri hamooleen kolbaa tiyya keessaa hin dhabamanu.

³⁰ Ani Mootiin Waan Maraa waan isaan tuffadheef, isaan «Meetii tuffa-tante» jedhamanee hin waamaman» jedha.

7

Ermiyaas Galma Waaqaa Keessatti Barsiise.

¹ Jechi Mootii Waan Maraa ka gara Ermiyaasii dhufe ka asii gad jiru:

² «Karra Galma Mootii Waan Maraa dura dhaabbadhuutii, «Mootii Waan Maraa waaqonfatiisaaf, karra tanaan worri seentanu kolbaan Yihuda'aa marti jecha Mootii Waan Maraa dhage'a'a!» jedhii ergaa tana lallabi.

³ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, Waaqi Israa'elii: Karaa keessanii fi hujii teessan haareffadha'a! Anille addee tana akka isin leetanu hin godha.

⁴ Dubbii dharaa dhugeeffattanee, «Kun Galma Mootii Waan Maraa ti! Kun Galma Mootii Waan Maraa ti! Kun Galma Mootii Waan Maraa ti!» hin jedhina'a.

⁵ «Karaa keessanii fi hujii teessan dhugumaan yoo haareffattane, wol woliif haqa yoo hujjane,

* **6:29** Irsaasa: Gosa sibiilaa ti.

⁶ nama alaga'aa fi ijoollee abbaa hin qanne, haadha hiyyeessaalle yoo cunqursuu dhaddane, addee tanatti dhiiga nama yakkaa hin qannee yoo dhangalaasuu dhaddane, waaqota dhibii gula deemiisaan yoo ifi miidhu dhaddane,

⁷ ani lafa abbootii teessaniif haga bara baraa akka keessa le'anuu kenne san keessa akka isin leetanu hin godha.

⁸ Isin ammoo dubbii dharaa ta bu'aa hin qanne dhugeeffattan.

⁹ Isin hin hattan; nama hin ijeettan; hin gaarayyeffattan; dharaan kakattan; Ba'aaliif hixaana aarsitan; waaqota dhibii ka hin beenne san gula deemaa,

¹⁰ addee maqaan kiyya itti waamamu, gara Galma kiyyaa dhuttanee, na dura dhaabbattanee, waan battii tana hujaa, «Wonni nu miidhu hin jiru» jettan.

¹¹ Galmi kiyya ka maqaan kiyya itti waamamu, daggala hattu'uu isiniif te'eeraa? Kunoo, ani waan isin gootanu kana dhaggeera.

¹² Amma addee qara maqaan kiyya akka itti waamamuuf filadhe gara qachaa Shiilo'oo dhaqa'aatii, sababa hammeenna kolbaa tiyya Israa'eliitiif waan ani godhe ilaala'a.

¹³ Isin waan kana mara adoo gootanu, itti deddeebi'ee isinitti dubbad-heera; isin ammoo na hin caqanne; yennaa ani isin waamelle na jalaa hin owwaanne.

¹⁴ Tanaaf waan qara qachaa Shiilo'oo godhe, ammalle addee maqaan kiyya itti waamamu, Galma isin itti dhugeeffattan, addee isinii fi abbootii teessaniif kenne tana akkasuma hin godha.

¹⁵ Obboleeyyan teessan sanyii Efreemii mara fuula kiyya duraa akkuma ari'e, isinille fuula kiyya duraa hin ari'a.»

Ajajamuu Dhabiiisa Kolba'aa

¹⁶ «Ee Ermiyaas, ani waan si'iif hin dhageenneef, kolbaa tanaaf hin daadimatin; marroo isaaniitiif na woliin hin falmin yookiin waan tokkolle na hin gaafatin yookiin na hin daadimatin.

¹⁷ Qachoota Yihuda'aatii fi karaa Yerusaalemii irratti waan isaan hujiisatti jiranu, ati hin dhaggituu?

¹⁸ Ijoolleen qoraan cassiti; abbootiin ibidda gabbitti; waaqa dharaa ta, «Mootittii ol-gubba'aa» jedhantuuf daabboo bilcheesiisaaf, dubartooti bukoo bukeessiti; na aarsiisaaf waaqota dhibi'iif daadhii woyni'ii dhibaasan.

¹⁹ Ka isaan aarsanu anaa? Isaan ifuma miidhanee, fokkoo ifi irratti fidan.

²⁰ Tanaaf, Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Ani aari'ii fi mufii tiyya addee tana irratti, namaa fi bineensota irratti, muka badda'aatii fi midhaan ficha'aa irratti hin dhangalaasa; isiin hin bobeetti; hin dhaantulle'e» jedha.

²¹ «Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, Waaqi Israa'elii, «Woreega ciinca'aa ciincaa dhibi'itti dabala'aatii, foon san ifiifuu nyaadha'a.

²² Ani abbootii teessan ta durii biyya Gibxi'ii keessaa yennaa baase, waan woreega ciinca'aatii fi ciincaa dhibi'ii womaa isaanitti hin dubbanne yookiin ajajalle isaaniif hin kennine.

²³ Ammoo naaf ajajama'a! Anille Waaqa keessan isiniif hin te'a; isinille kolbaa tiyya hin teetan; akka isinii milkoottuuf, karaa ani isin ajaju mara deema'a!» jedhee isaan ajajeera.

²⁴ Isaan ammoo mataa jabaatanee hammeenna gadhaa ifii gula deemane malee, na hin dhageenne yookiin hin caqanne. Isaan gara duubaa deemane malee, gara duraa hin deenne.

²⁵ Bara abbootiin teessan biyya Gibxi'ii keessaa baateen jalqabee haga ammaa guyyuma guyya'aan, deddeebisee tajaajiltoota tiyya raagota gara keessan erge.

²⁶ Kolbaan ammoo na hin dhageenne yookiin na hin caqanne. Mataa jabaatanee abbootii ifii ta durii caalaa hantuu hujane.

²⁷ «Ati tana mara yennaa isaanitti hintu, isaan ammoo si hin caqasanu; yennaa ati isaan waantulle si jalaa hin owwaatanu.

²⁸ Tanaaf, ati isaaniin, «Isin kolbaan tun ta Waaqa ifitiif hin ajajanne yookiin ta gorsa isaalle hin fudhanne. Dhugaalle afaan keessan keessaa baddeerti.

²⁹ Mootiin Waan Maraa dhaloota itti mufateeru kana tuffatee waan lakkiseef, rifeensa mataa keessanii haadadha'aatii ifi irraa gata'a; qaccee koobota goddu'uu irratti ol baya'aatii qoonqoo teessan ol qabadha'aatii faaruu awwaalaa faarsa'a.

Dhooqa Qalmaa

³⁰ «Kolbaan Yihuda'aa fuula kiyya duratti waan hantuu hujjeerti. Isaan waaqa dharaa batticha, addee maqaan kiyya itti waamamu, Galma kiyya keessa keyanee, Galma kiyya batteesaneeran.

³¹ Waan ani isaan hin ajajin, ta ani qalbii tiyya keessaa hin qanne, ilmaan ifitii fi ijoollee ifii ta duraa ciincaa dhikeessiisaaf dhooqa ilma Hiinomii keessatti, addee waaqonfanna'aa ta «Toofet» jedhantu ijaarane.

³² Tanaaf, haga addeen dhabantutti, nama du'e Toofet keessatti waan awwaalanuuf, haganaa achi maqaan addee sanii, «Dhooqa itti qalamanu» jedhama malee, «Toofet» yookiin «Dhooqa ilma Hiinomii» barri hin jedhanne hin dhufa.

³³ Reefferi kolbaa tanaa allaatti'ii fi bineensaaf sagalee hin te'a; nami reeffa san irraa isaan ari'u tokkolle hin jiraatu.

³⁴ Latti waan ontuuf, ani qoonqoo gammadaatii fi ililleetti'ii, qoonqoo waa-jibichaatii fi waajibitti'ii qachaa Yihuda'aatii fi karaa Yersaaleemii keessaa hin balleessa.

8

¹ «Mootiin Waan Maraa, «Yennaa san lafee moototaa fi qondaaltota Yihuda'aa, lafee hayyootaatii fi raagotaa, lafee kolbaa Yersaaleemiille boolla awwaalaa keessaa hin baasan.

² Lafeen sun aduu, ji'aa fi urjoota ol-gubba'aa, worra dur jaalatane, worra dur tajaajilane, worra dur hordofane, worra dur gorsa irraa fudhatanee fi worra dur waaqonfatane mara duratti hin xeeraman malee wolitti hin qabamanu yookiin hin awwaalamanu; ammoo akka cego'oo lafatti hin gataman.

³ Kolbaa hantuu tana keessaa worri jiru'uun hafe marti addee ani isaan ari'e maratti jiruu irra du'a hin filatan» jedha.

Adabbii Cubbuun Fidde

⁴ «Mootiin Waan Maraa: Nami yoo jige,
deebi'ee hin ka'uu ree?

Nami karaa irraa yoo gore, kara'atti hin deebi'uu ree?

⁵ Kolbaan tun maaf gara duubaa deebiti ree?

Maaf Yersaaleem yennaa mara gara duubaa deebiti ree?

Isaan soba jabeessanee qabataneeran;

isaan deebi'iisa didaneeran.

⁶ Ani miidhassee isaan caqaseera;

isaan ammoo waan sirrii te'e hin dubbatanu.

Eennulle: Ani maan hujeera jedhee,
hammeenna ifii irraa ka deebi'u hin jiru;
akka farda lolaaf qophowe tokkoo
tokko tokkoon isaanii karaa ifii fiigan.

⁷ Qongaannuu yennaa ifii beeka;
Saphaliisi, risa'aa fi cuquliis
yennaa itti godaananu hin beekan.
Kolbaan tiyya ammoo seera kiyya hin beettu.

⁸ «Worri feenii sobaatiin barreessu eega jiraatee,
isin: Seera Mootii Waan Maraa waan qannuuf,
nuuti qaroole'e attam jedhuu dandeettan ree?

⁹ Worri qarooleen hin fokkifatan; hin salphatan;
tiyyoolle'een hin qabaman.

Jecha Mootii Waan Maraa eega lakkisane
garummaa attamii qabaatan ree?

¹⁰ Tanaaf ani Mootiin Waan Maraa
niitota isaanii namoota dhibi'iif hin kenna.
Fichaa isaaniille ormaaf hin kenna.

Diqqaa irraa kaasee haga guddaa isaaniititti,
marti isaanii bu'aa isaanii hin malleef joljolan;
raagotii fi hayyooti akkasuma marti isaanii nama soban.

¹¹ Madaa kolbaa tiyyaa akka waan salpha'aatitti laakkowanee,
akka maltetti hin cidhoomanu.

Nageenni adoo hin jiraatin:
Nageya! Nageya! jedhan.

¹² Waan battii yennaa hujanu fokkifataneeraniyyuu?
Waawwo'o ijjumaa hin fokkifanne;
isaan attam akka salphatanu hin beekanu;

Tanaaf worra jige oddu'utti hin jigan;
yennaa ani isaan adabulle hin salphatan.

¹³ «Mootiin Waan Maraa:
Ani waan isaan galfatanu mara hin balleessa;
muka woyni'ii irra midhaan woyni'ii,
muka harru'uu irra midhaan harru'uu hin jiraatu;
koalli isaaniille hin qoora;
wonni ani isaaniif kenne marti
isaan irraa hin fudhatama» jedha» jedhe.

¹⁴ Kolbaan sun deebittee, «Nuuti Mootii Waan Maraa
Waaqa keenna duratti cubbuu waan hunyeef,
inni bisaan hadhaa qabu nu obaasee akka bannu nu godheera;
nuuti maaf as teenna ree?

Wolitti qabannee gara qachaa dalleya dhaka'aa qabuu baqannee,
achitti banuu ti.

¹⁵ Nuuti «Nageenni hin te'a» jennee addanne;
ammoo wonni dansaan hin teene.

«Yennaa fayyinnaatitti te'a» jennee addanne;
ammoo bararaqatti te'e.

¹⁶ Fooqqisiisi fardoo diinotaa biyya Daanii irraa dhage'ame;
yennaa isaan himimmisanu latti marti tachoote.

Isaan lafaa fi waan isii keessa jiru mara

qacha'aa fi worra isii keessa le'anuu liqinsiisaaf dhufane» jetti.

- ¹⁷ Mootiin Waan Maraa, «Kunoo, ani dhudhuufaa hadhaa qabu ka worri xanoo xanu dhooggee hin dandeenne, odduu teessanitti hin erga; isaanille isin hin iddan» jedha.

Ermiyaas Kolbaa Ifitiif Gadde

- ¹⁸ Gaddi hamaan na dhaqqabeera;
ani gaggabeera.
- ¹⁹ Iyya kolbaan tiyya biyya fago'oo irraa,
«Mootiin Waan Maraa Xiyyoon keessa hin jiruu?
Mootiin isi'ii achi keessa hin jiruu?» jettu dhage'i.
Waaqi ammoo, «Isaan fakki'ii fi waaqota dharaa ka ormaa waaqonfatiisaan maaf na aarsan» jedha.
- ²⁰ Kolbaan, «Yennaa midhaan galfatanu dabarte;
bonni dhumate; nuuti rakkoo keessaa hin baane» jetti.
- ²¹ Kolbaan tiyya waan miidhanteef anille miidhameera;
ani bowe, sodaadheelle bowe.
- ²² Giil'aad keessa qorsi dibatanu hin jiruu?
Cidheessi achi hin jiruu?
Madaan kolbaa tiyyaa maaf hin fayyine ree?

9

- ¹ Ani kolbaa tiyya ta qalanteef,
Halkanii fi guyyaa akka bowuuf,
mataa kiyya madda bisaanii
ilti tiyyalle burqaa imimmaanii adoo teetee hin halcha!
- ² Kolbaan tiyya gaarayyeeffattoota fi
gumii hin addatanne waan teeteef,
ani isaan lakkisee, irraa fagaadhee deemee
goomolee keessatti addee keessummooti bultu
adoo qabaadhee hin fedha.
- ³ Mootiin Waan Maraa, «Isaan dhara dubbatiisaaf,
akka guube'ee arraba ifii qopheeffatan;
isaan lafa tana irratti hammeenna irratti
hammeenna dabalatan malee,
dhuga'atti hin jabaatanu; analle hin beekanu.
- ⁴ Nami marti sobaaleessa,
jaalli martille hamatticha waan te'eef,
obboleessi obboleessa ifii irraa ifi eegatuu ti;
jaallille jaala ifii hin addatin.
- ⁵ Jaalli jaala ifii hin soba;
dhugaa ka dubbatu hin jiru.
Isaan arraba ifii soba dubbatiisa barsiisaneeran;
cubbuu hujiisaan ifi dadhassiisaneeran.
- ⁶ Ati soba odduu leeta;
Isaan soba ifii irraa ka ka'e,
na beekiisa didaneeran» jedha.
- ⁷ Tanaaf Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade,
«Kunoo, ani akka sibiilaa baqisiisee,
kolbaa tiyya haga hin ilaala;

- sababa cubbuu kolbaa tiyyaatiif,
 waan dhibii maan godhuu dande'a ree?
- ⁸ Arrabi isaanii akka daaya nama ijjeesuu ti;
 afaan isaaniille soba dubbata.
 Isaan nama maratti dubbii dansaa dubbatan;
 gadhaa ifii keessatti ammoo
 mala hamaa isaaniif dhowan.
- ⁹ Waan kanaaf ani isaan hin adabuu ree?
 Kolbaa akkanaa tana ani haluu hin bayuu ree?» jedha.
- ¹⁰ Gaarotii fi addeen horiin dheedu ontee,
 namille keessa waan hin ideenneef,
 madhi hori'ii achi keessa waan hin jirreef,
 allaatti'ii fi bineensoti achi keessaa waan baqataneef,
 ani wiiccifadhee isaaniif hin bowa.
- ¹¹ Mootiin Waan Maraa, «Yerusaalem tuulaa bututaa,
 addee jeedalti* keessa leetu hin godha;
 qachoota Yihuda'aalle ona
 ka nami keessa hin leene hin godha» jedha.
- ¹² Nami qaroon waan kana hubatuu dande'u eennu? Mootiin Waan Maraa
 itti mudhisee, nami waan kana himuu dande'u eennu? Latti maaf akka
 goomolee nami keessa hin deennee, ona teete ree?
- ¹³ Mootiin Waan Maraa deebisee, «Seera ani isaaniif kenne lakkisanee, naaf
 waan hin ajajaminiif yookiin akka seera kiyyaatitti waan hin ideeminiif tun
 teete.
- ¹⁴ Isaan mata-jabeeyyii te'anee, akka fedhii ifii ideemiisaan akkuma ab-
 bootiin isaanii ta durii isaan barsiitte, waqota dharaa Ba'aal waqonfatane.
- ¹⁵ Tanaaf, ani Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, Waaqi Israa'elii,
 kolbaa tana sagalee hadhoottuu hin nyaachisa; bisaan hadhaa qabu hin
 obaasa.
- ¹⁶ Ani gosa biyya adda addaa ta isaan yookiin ta abbootiin isaanii ta
 durii hin beenne oddu'utti isaan hin bittinneessa; haga isaan balleessutti
 shallaaga'aan isaan hin ari'a» jedha.

Kolbaan Yerusaalemii Qarqaarsa Dhaggatiisaaf Iyyite

- ¹⁷ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Amma, marroo waan kanaa
 yaadadha'a! Dubartoota faaruu awwaalaa faarsitu waansisa'a. Isaan
 keessaa worra boochisiisaan beekkamanetti erga'a.
- ¹⁸ Isaaniin, «Ila teenna keessaa imimmaan haga dhangalaatutti, gaara
 ila teennaa jalaa bisaan haga burqutti ariiti'in kowa'aatii nu boochisa'a»
 jedha'a.
- ¹⁹ Qoonqoon bowichaa, «Nuuti ijjumaa banne!
 Nuuti ijjumaa salphanne!
 Manni keenna waan diigameef,
 lafa teenna lakkinnee deemuu qanna» ta jettu
 Xiyoona keessaa hin dhage'anti» jedha.
- ²⁰ Ee, dubartoota Yihuda'aa,
 amma jecha Mootii Waan Maraa caqasa'a!
 Jecha afaan isaa keessaa bawu dhage'iisaaf,
 gurra keessan banadha'a.
- Ijoollee durraa teessan attam akka bowanu barsiisa'a;
 Faaruu awwaalaa wol barsiisa'a.
- ²¹ Duuti karaa fodda'aatiin ol yaaddee,

* **9:11** Jeedalti: Lafa tokko tokkotti ukkullo jedhanti.

- gara kushee teennaa seenteerti;
 ijoollee teenna woldeennaa karaa irratti,
 dargaggootalle badhinnatti ijeetteerti.
- ²² Isin kolbaa tanatti dubbadha'aatii, «Mootiin Waan Maraa,
 «Reeffi namaa akka cegoo diidatti gatane,
 akka woxoo worra midhaan haamu irraa hattee,
 ka nami wolitti qabu hin jirree hin te'a» jedha» jedha'a.
- ²³ Mootiin Waan Maraa,
 «Nami qaroon qarummaa ifitiin,
 nami hunnaamessi hunna ifitiin,
 nami dureessi durummaa ifitiin ifi hin jatin.
- ²⁴ Nami ifi jaju,
 ani Mootiin Waan Maraa lafa irratti jaalala bara baraa,
 haqaa fi balchummaa akka mudhisu hubatiisaa fi
 beekiisaan ifi jajuu ti;
 ani waan kanatti gammada» jedha.
- ²⁵ Mootiin Waan Maraa, «Worra maqaa calla'aaf haqanqabaa qabate mara
 guyyaan adabu hin dhufa;
- ²⁶ worra Gibxi'ii, worra Yihuda'aa, worra Edoomii, worra Amoonii, worra
 Mo'aabiitii fi worra rifeensa mataa ifi cinaa quxatu ka goomolee keessa
 le'u mara hin adaba; gosi biyya adda addaa tun marti haqanqabaa qa-
 bataneeran; te'uu malee, isaan martii fi kolbaan Israa'elii martinuu gadhaa
 tokkochaan haqanqabaa san hin qabanne» jedha.

10

Waaqota Dharaa Waaqonfatiisaa Fi Waaqonfannaa Dhuga'aa

- ¹ Ee, kolbaa Israa'elii, waan Mootiin Waan Maraa isinitti dubbattu
 dhage'a'a!
- ² Mootiin Waan Maraa, «Karaa gosa biyya adda addaa hin hordofina'a!
 Isaan beessisa gubba'aatiin hin bararaqin;
 isin waan kanaan hin bararaqina'a.
- ³ Aadaan kolbaa tanaa waan bu'aa hin qanne;
 isaan muka gongomaa keessaa muran;
 nami muka bocu uraa ifitiin bifa itti baasa.
- ⁴ Meeti'ii fi worqi'iin gonfanee seesan;
 akka hin jinneef
 burrisaan mismaara itti dhowanee hin jabeessan.
- ⁵ Waaqoti isaanii akka waan bineensa sodaachisaaf,
 fichaa baaqula'aa keessa dhaabane ti;
 waaqoti isaanii dubbatiisa hin dande'anu;
 ideemiisalle waan hin dandeenneef,
 namatti isaan ba'atee ideema.
- Isaan nama miidhiisa
 yookiin waan dansaa godhiisa waan hin dandeenneef,
 isaan hin sodaatina'a» jedha.
- ⁶ Ee Mootii Waan Maraa, ka akka keetii hin jiru;
 ati gudda'a;
 baalliin maqaa keetiille guddo'o.
- ⁷ Ee, mootii gosa biyya adda addaa,
 ka si hin sodaanne eennu?
 Qaroolee gosa biyya adda addaati fi

mootummoota isaanii mara keessaa,
ka akka keetii waan hin jirreef,
ulfinni si'iif male.

- ⁸ Isaan marti daallotaa fi gowwootaa;
isaan waaqota dharaa ka muka irraa bocame irraa baratan.
- ⁹ Waaqoti dharaa ka isaanii kun hujii harka namaa ti;
isaan meetii qulqulluu biyya Tarshiishiitii dhuttuu fi
worqii biyya Ufaaziitii dhuttu irraa hujamane;
woyaan bifa cuquliisaatii fi dhiilleen isaan uffatanu marti
hujii worra ogeeyyi'ii ti.
- ¹⁰ Mootiin Waan Maraa ammoo Waaqa dhuga'aa ti;
inni Waaqa jiraata'a fi mootii bara baraa ti.
Yennaa inni aaru latti hin tachooti;
gosi biyya adda addaalle mufii isaa dura dhaabbatiisa hin dandeettu.
- ¹¹ Isin, «Waaqoti dharaa ka ol-gubba'aa fi lafa hin dadin kun,
ol-gubba'aan jala irraa, lafa irralle'ee
hin badan» jedha'aatii isaanitti hima'a.

Faaruu Waaqa Leellisiisaa

- ¹² Waaqi hunna ifitiin lafa dade;
qarummaa ifitille'een biyya lafaa hundeesse;
hubantii ifitille'een ol-gubbaa diriirse.
- ¹³ Yennaa inni qoonqoo ifii ta akka mandiisu'uu dhageessisu,
bisaan ol-gubba'aa hin shookkisa;
inni duumensi qaccee lafaa irraa akka ol ka'u hin godha;
bokkeya keessa balaqqeettii hin buusa;
qilleensalle mana kuusa'aa ka ifii keessa hin fida.
- ¹⁴ Isaan martinuu worra daalle'ee fi
worra beekkumsa hin qanne;
worri worqii baqisiisu marti
waaqota dharaa ka hujane sanitti fokkifataneeran.
Fakkiin isaan hujane ta dharaa ti;
hafuuralle hin qaddu.
- ¹⁵ Isaan worra bu'aa hin qanne, meya murgoo'oo ti;
yennaa muraan isaanitti dhuttu hin badan.
- ¹⁶ Waaqi Yaaqoobii ammoo akka isaan kanaatii moti;
waan mara ka dade isa waan te'eef,
kolbaa Israa'eliille ka ifii godhatiisaaf filate;
maqaan isaa Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dade.

Badii Dhufu'uu Jirtu

- ¹⁷ Ee, isin worri marfantaneertanu, meya keessan ka lafa jiru wolitti
qabadha'a.
- ¹⁸ Mootiin Waan Maraa, «Ani amma worra lafa tana keessa le'u, fugussee
hin baasa; akka isaan booji'amanuuf rakkinna isaanitti hin fida» jedha.
- ¹⁹ Ani waan madoweef
naaf aanne'e!
Madaan tiyyalle ta hin fayyine.
Ani ammoo, «Tun dhibee tiyya;
anille ossatuu qaba» jedhe.
- ²⁰ Dunkaaniin tiyya diiganteerti;
wodaroon isi'ii marti ciccitteerti.
Ijoolleen tiyya na lakkittee deenteerti;

deebi'ee isaan hin dhaggu;
nami dunkaanii tiyya naaf dhaabu,
ka gollaa kiyyalle naaf diriirsu tokkolle hin hanne.

- ²¹ Tissitooti daallee waan teeteef,
Mootii Waan Maraa irraa gorsa hin gaafattu;
tanaaf isaaniif hin milkoonne;
tiki isaanii marti bittinnoweera.
²² Caqasa'a! Oduun dhufiisatti jirti.
Kunoo gara lafa kaabaatii hogaan guddaan hin dhufa.
Hogaan sun qachoota Yihuda'aa onsee,
addee jeedalti leetu hin godha.

Daadimata Ermiyaasii

- ²³ Ee Mootii Waan Maraa!
Jiruun namaa tama isaa akka hin te'in ani hin beeka;
nami ideensa ifi ifumaan qajeelchuu hin dande'u.
²⁴ Ee Mootii Waan Maraa! Akka ani ijjumaa hin banne
haqaan na adabi malee,
aarii teetiin na hin adabin.
²⁵ Gosi biyya adda addaa ta si hin beennee fi
kolbaan maqaa keeti hin waammanne
sanyii Yaaqoobii balleessiteerti.
Isaan sanyii Yaaqoobii ijjumaa fixanee,
lafa isaanii waan onsaneef,
aarii teeti isaan irratti dhangalaasi.

11

Gondooroon Diigante

- ¹ Jechi Mootii Waan Maraa ka gara Ermiyaasii dhufe ka asii gad jiru:
² «Dubbii gondooroo tanaa dhage'iitii kolbaa Yihuda'aatii fi worra Yerusaalem keessa le'utti himi.
³ Ani Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, «Nami dubbii Gondooro'oo tanaaf hin ajajanne ka abaarama.
⁴ Ani abbootii teessan biyya Gibxi'ii ta akka addee sibiila itti baqsiisanuu keessaa yennaa baase, naaf ajajama'aatii, waan ani isin ajaje mara godha'a; tana yoo gootane kolbaa tiyya hin teetan; anille Waaqa keessan hin te'a.
⁵ Achiin duuba ani lafa aananii fi dammaa ta abbootii teessan duriitiif kenniisaaf waadaa gale, ta amma qabattaneertanu tana isiniif hin kenna» akka jedhe itti himi» jedhe.
Anille deebisee, «Ameen, Mootii Waan Maraa» jedhe.
⁶ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa anaan, «Jecha kiyya kana mara qachoota Yihuda'aatii fi karaa Yerusaalemii mara irratti lallabiitii, «Dubbii gondooroo tanaa dhage'a'aatii, waan isiin jettu godha'a» jedhi.
⁷ Ani abbootii teessan ta durii biyya Gibxi'ii keessaa yennaa baasee jalqabee haga adhaa, «Naaf ajajama'a» jedhee itti deddeebi'ee ifi eeggachiise.
⁸ Isaan ammoo mataa jabinna hammeenna gadhaa ifi hordofane malee, naaf hin ajajanne; dubbii tiyyalle hin dhageenne. Tanaaf dubbii gondooroo tanaa ta akka isaan muummessanuuf ajaje, waan didaneef, abaarsa Gondooro'oo mara itti fide» jedhe.
⁹ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa anaan, «Kolbaan Yihuda'aatii fi kolbaan Yerusaalemii na irratti ka'iisaaf mala dhowiisatti jiran.

¹⁰ Isaan gara cubbuu abbootii ifii ta durii, ta dubbii tiyya dhage'uu diddee deebi'aneeran; waaqota dharaa tajaajiliisaaf gula deemane; kolbaan Israa'eliitii fi kolbaan Yihuda'aa gondooroo ani abbootii isaanii ta durii woliin godhe diiganeeran.

¹¹ Tanaaf Mootiin Waan Maraa, «Ani badii isaan jalaa bayuu hin dandeenne isaan irratti hin fida; isaan gara kiyya yoo iyyanelle, ani isaaniif hin dhage'u.

¹² Yennaa san kolbaan qachaa Yihuda'aatii fi qachaa Yerusaalemii gara waaqota hixaana aarsanuufii san dhaqanee hin iyyatan; waaqoti isaanii sun ammoo, yennaa rakkinni isaan irra gewu ijumaa isaan qarqaaruu hin dande'anuu.

¹³ Ee kolbaa Yihuda'aa! Akkuma qachaa hedduu qaddu, waaqota hedduu qadda; waaqa dharaa fukkisiisaa Ba'aaliif, addeen ciinca'aa ta hixaana itti aarsiisaaf ijaarte, akkuma karaa Yerusaalemii heddu'u» jedha.

¹⁴ Ee Ermiyaas, isaan rakkatanee gara kiyya yennaa iyyanu, ani isaaniif waan hin dhageenneef, ati kolbaa tanaaf hin daadimatin yookiin gara kiyya hin iyyin yookiin isaaniif na hin gaafatin.

¹⁵ «Isin kolbaan Yihuda'aa ta ani jaaladhu, worra hedduu woliin waan hantuu hujaa, Galma kiyya keessaa maan qaddan? Foon wooyyichi ciinca'aaf dhikaatu, adabbii isin dhaqqaddu irraa isin hin hamburaa ree? Tana hujaa hin gammaddanii ree?

¹⁶ Mootiin Waan Maraa, «Muka ejersaa bisilee, ka midhaan dansaa qabu» jedhee isin waameeraayyu; amma ammoo hobonbolattii jadduu bubbittuun ibidda itti hin qassiisa; dameelee isaa mara hin caccassa.

¹⁷ «Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, ka isin dhaabe, sababa isin kolbaan Israa'eliitii fi Yihuda'aa na aarsiisaaf Ba'aaliif hixaana aarsitaneef, hantuu hujaneef badii isin irratti hin fida» jedhe.

Mala Ermiyaasitti dhowane

¹⁸ Mootiin Waan Maraa mala isaan na irratti dhowane, waan natti mudhiseef, ani waan isaan yennaa san hujiisatti jiranu beeke.

¹⁹ Ani akka hoolee gara qalma oofanuu te'eeraayyu; isaan, «Kowa'a, maqaan isaa akka hin qaabatanne, muka midhaan isaa woliin murree, lafa worra jiraata'aa irraa balleessina» jedhanee akka natti malane ani hin beenneeyyu.

²⁰ Ee Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dadde, ka gadha'aa fi qalbii namaa qorqortu, ka balchumma'aan murto, ani haajaa kiyya sitti waan himadheef, haluu isaan irratti baatu na dhaggisiis.

²¹ Tanaaf worra Anaatotaa ka na ijjeesiisaaf barbaadaneef, «Maqaa Mootii Waan Maraatiin raagaa yoo dubbatte si hin ijjeenna» anaan jedhanuun,

²² Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Ani isaan hin adaba; dargaggooti isaanii shallaaga'aan, ilmaanii fi ijoolleen isaanii ta durraa beelaan hin du'an;

²³ bara ani worra Anaatotaa adabiisaaf badii itti fidu, isaan keessaa baraareelle hin hattu» jedhe.

12

Gaaffii Ermiyaas Waaqa Gaafate

¹ Ee Mootii Waan Maraa,
yennaa ani haajaa kiyya si duratti dhikeeffadhu,
ati yennaa mara balcha'a;
ani haajaa kiyya si dura dhikeeffadha;

te'uu malee marroo muraa haqaa waan si gaafadhu qaba.
Worri hamooleen maaf qananooman?

Worri hin addatanne maaf milkowan?

² Ati isaan dhaaddeerta; isaanille hidda yaafataneeran;
isaan guddatanee midhaan buusaneeran;

Isaan afaan ifitiin ulfinna si'iif kennan;
gadhaa ifitiin ammoo si irraa fagoo jiran.

³ Ee Mootii Waan Maraa! Ati ammoo na hin beetta;
na hin dhaggitalle'e; yaada ani si'iif qabu hin qorqorta.

Worra hamoolee kana akka hoolee qalmaaf oofanuu,
isaan harkisii baasiitii,
guyyaa qalmaatiif adda baasi.

⁴ Latti haga yoomii goddi?

Marri diida maraa haga yoomii qoora?

Sababa worra hamoolee lafa san keessa le'uutiif,
sababa isaan,
«Waan nu irratti te'u kana Waaqi hin dhaggu» jedhaneef,
bineensotii fi sinbirrooti dhumataneeran.

⁵ Mootiin Waan Maraa deebisee,

«Ee Ermiyaas, ati worra miilaan rukkiisu waliin rukkittee,
eega isaan si dadhassiisanees,
abbootii fardaa waliin attam doggomuu dandetta ree?

Ati lafa qaaleyaatitti eega jiddee,
Gongomaa Yordaanosii keessatti attam teeta ree?

⁶ Obboleeyyan teetii fi maatiin teetiiyyuu sitti malaneeran;
isaan qoonqoo guddo'oon sitti iyyiisatti jiran;
waan dansaa sitti dubbatanulle, isaan hin addatin.

Mootiin Waan Maraa Kolbaa Ifititti Gadde

⁷ Ani kolbaa tiyya Israa'el lakkiseera;
kolbaa tiyya ta jaaladhu
harka diinota isaaniititti dabarsee kenneera.

⁸ Kolbaan tiyya akka neenqa gongomaa keessaa
natti teeteerti;
isaan dhangaa natti dhowane;
anille isaan jibbe.

⁹ Kolbaan tiyya akka sinbirree
jajju'uun marfante teetee motii ree?

Dhaqa'aatii bineensota mara wolitti qaba'a;
isaan dhufanee kolbaa tiyya nyaatanuu ti.

¹⁰ Tissitooti hedduun fichaa muka woynii tiyyaa balleessiteerti.
Fichaa kiyyalle irra sirbiteerti;
fichaa kiyya ka na gammachiisu goomolee duwwaa godhaneeran.

¹¹ Isaan fichaa san goomolee duwwaa waan godhaneef
na duratti gogee oneera.

Nami isi'iif haajamu waan hin jirreef,
Latti duudiin goomolee teeteerti.

¹² Shallaagaan Mootii Waan Maraa qaccee lafaa
gara tokkoo kaasee,
haga qaccee taaniititti waan balleessuuf,
worri lafa balleessu
koobota godduu mara hin qabatan;
nami nageyaan hafu tokkolle hin jiru.

¹³ Isaan qamadii hin facaafatan; ammoo goree haammatan.
Isaan hin elowan; ammoo womaa hin dhaggatanu.
Sababa aarii Mootii Waan Maraa ta akka ibiddaa bobeeutuutiif,
midhaan isaan galfatanu waan badeef,
hin qaanowan» jedhe.

Mootiin Waan Maraa Olloota Israa'eliitiif Waadaa Gale

¹⁴ Mootiin Waan Maraa, «Olloota kiyya worra hamaa ka lafa ani kolbaa tiyya Israa'eliif kenne qabatanu mara, ani lafa isaanii irraa isaan hin buqqisa; kolbaa Yihuda'aalle odduu isaaniitii buqqisee hin baasa.

¹⁵ Isaan buqqiseen duuba ammoo deebi'ee isaaniif hin marara; tokko tokkoo isaanii gara lafa isaaniitii fi gara biyya isaaniititti isaan hin deebisa.

¹⁶ Isaan akka kolbaan tiyya itti leetu le'iisa akka dansaa yoo baratane, akkuma kolbaa tiyya maqaa Ba'aaliitiin kakatiisa barsiisane, amma ammoo deebi'anee kolbaa tiyya woliin, «Dhugaa Mootii Waan Maraa Ka jiraataa te'ee» jedhane kakatiisa yoo baratane, isaan kolbaa tiyya odduu hin le'an.

¹⁷ Kolbaa na hin dhageenne ammoo ijumaa buqqisee hin balleessa» jedha.

13

Hiituu Hidhaa Ta Quncee Talba'aa Irraa Hujante

¹ Mootiin Waan Maraa natti dubbatee, «Dhaqii hiituu hidhaa ta quncee talba'aa irraa hujante bitadhuutii, hidha keeti hidhadhu; ammoo bisaan isii hin tuqin» jedhe.

² Maarre akkuma Mootiin Waan Maraa na ajaje hiituu hidhaa bitadhee, hidha kiyya hidhadhe.

³ Jechi Mootii Waan Maraa ammalle gara kiyya dhufee,

⁴ «Hiituu hidhaa ta bitattee hidha keeti hidhatte san qabadhuutii gara laga Efraaxiisii dhaqi; achitti baqaqa rassa'aa keessatti dhossi» naan jedhe.

⁵ Maarre akkuma Mootii Waan Maraa na ajaje gara laga Efraaxiisii dhagee, hiituu hidhaa san achitti dhosse.

⁶ Guyyaa heddu'uun duuba Mootiin Waan Maraa anaan, «Amma gara laga Efraaxiisii dhaqiitii, hiituu hidhaa ta achitti akka dhossituuf si ajaje san fidi» jedhe.

⁷ Maarre anille gara laga Efraaxiisii dhagee, hiituu hidhaa san addee dhosse sanii qotee fuudhe; hiituun hidhaa sun ammoo gara badee waan bu'aa hin qanne teeteertiyyu.

⁸ Achiin duuba jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

⁹ «Mootiin Waan Maraa, «Koora Yihuda'aatii fi koora guddaa Yerusaalemii akkasuma gara hin balleessa.

¹⁰ Kolbaan hantuun jecha kiyya caqasuu didde, ta mataa jabinnaan, waaqota dhibii tajaajiliisaaf, waaqonfatiisaafille hordottu tun, akkuma hiituu hidhaa ta gara baddee bu'aa hin qanne sanii hin te'an.

¹¹ Akkuma hiituun hidha namaatitti maxxantu, kolbaan Israa'eliitii fi kolbaan Yihuda'aa marti natti akka maxxananu, ulfinnaa fi galata maqaa kiyyaatiif, kolbaa tiyya akka te'an godheeraayyu; isaan ammoo na hin caqanne» jedha» jedhe.

Okkotee Daadhii Woyni'ii

¹² Ammalle Mootiin Waan Maraa anaan, «Ati isaaniin, «Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, okkoteen marti daadhii woyni'iitiin hin guutanti» jedhiin» jedhe; isaanille si'iin, «Okkoteen marti daadhii woyni'iitiin akka guutantu nuuti hin beennu seetaa?» yoo si'iin jedhane,

¹³ ati isaaniin, «Mootiin Waan Maraa, «Kolbaa lafa tana keessa leetu mara, mootota barcumaa mootumma'aa ka Daawitii irra teettu, hayyoota, raagota fi worra Yerusaalem keessa le'u mara hin macheessa.

¹⁴ Ani wol wolitti isaan buusee, abbootii'ii fi ilmaan wol wolitti buusee hin caccassa; ani yennaa isaan balleessu, isaaniif hin nawu yookiin hin mararu yookiin gadhaa isaaniif hin laafu» jedhiin» jedhe.

Akka Kolbaan Hin Koorre Ermiyaas Ifi Eggachiise

¹⁵ Mootiin Waan Maraa waan dubbateef,
dhage'a'a; hin koorina'aatii, caqasa'a.

¹⁶ Adoo inni dukkana isinitti hin fidin,
adoo gaara dukkanowe irratti miilli keessan hin gufatin,
Mootii Waan Maraa Waaqa keessaniif ulfinna kenna'a.

Adoo isin ifa addii godhattanuu,
inni ifa gara dukkanaatii fi
gara dukkana dimmaatitti hin jijjiira.

¹⁷ Yoo isin hin caqasin ammoo
sababa koora keessaniitiif ani dhossa'aan hin bowa;
kolbaan Mootii Waan Maraa waan booji'anteef
ani wiiccifadhee hin bowa;
ilti tiyyalle imimmaan hin dhangalaatti.

¹⁸ Mootiin Waan Maraa natti dubbatee, «Mootichaa fi haadha mootichaatiin, «Kallachi ulfinna keessanii mataa keessan irraa waan bu'uuf, barcumaa mootumma'aa irraa gad bu'a'a» jedhi» jedhe.

¹⁹ Qachooti Yihuda'aa ka gara kibbaa* hin cufaman; ka isaan banulle hin jiru; kolbaan Yihuda'aa marti hin booji'anti; isaan duudiin hin fudhataman.

²⁰ Ee Yerusaalem! Diinota keeti ka gara kaabaatiin dhufiisatti jiranu ol jedhii ilaali. Kolbaan sitti kennante, ta ati ittiin ifi jajju meet?

²¹ Worra ati jaala godhatte, Mootiin Waan Maraa si irratti yennaa mootonsu, ati maan jetta? Akka dubartii deettuu hin ciniinsifattuu ree?

²² Ati gadhaa keeti keessatti, «Tun maaf na irratti teete?» jettee yoo ifi gaafatte, sababa bacinna cubbuu teetiitiif, woyaa teeti si irraa shooqanee hunnaan si woliin rafane.

²³ Nami Itoophiya'aa† bifa ifii yookiin qeeransi buburrummaa ifi jijji-iratu dande'aa? Akkasuma isin worri hantuu hujuu barattane, waan dansaa hujuu hin dandeettanu.

²⁴ Akka hicaaceen qilleensa goomole'eetiin bittinnoottu, ani isin hin bittinneessa.

²⁵ Ee Yerusaalem! Mootiin Waan Maraa si'iin, «Ati na deetee waaqota dharaatitti waan addateef tun hiree teeti; qooda ani si'iif kenne.

²⁶ Aninuu woyaa teeti fuula keetitti ol garagalchee akka ati qaanottu hin godha.

²⁷ Ani hujii teeti battittii gaarayyeffatiisa keetii, akka fardaa himimmisiisa keetii fi sagaagala keeti ka qaanii hin qanne dhaggeera. Ee Yerusaalem, si'iif aanne'e! Ati haga yoomii batumma'aan jiraatta?» jedha.

14

Oolaa Hamaa

¹ Jechi Mootii Waan Maraa ka marroo oola'aa dubbatu ka gara Ermiyaasii dhufe ka asii gad jiru:

² «Kolbaan Yihuda'aa hin bootti;

* **13:19** Yihudaa gara kibbaa: Afaan Ibrootaatiin Negeb jedha. † **13:23** Itoophiyaa: Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali.

qachooti Yihuda'aalle gad deebi'an;
kolbaan Yihuda'aa lafa irra teettee gadditi;
Yerusaalem keessaa iyyi hin kaati.

³ Qondaaltoti isi'ii tajaajiltoota ifii bisaan hin ergiti;
isaalle gara boolla bisaanii hin dhaqan;
ammoo bisaan achitti hin dhagganu;
isaan fukkifatane, addii kutatane,
mataa hagooggatane,
okkotee duwwaa ba'atane deebi'an.

⁴ Bokkeenni waan hin jirreef,
latti babbaqaxxeerti;
gonnaan bultooti fukkifatane,
mataa ifii hin hagooggatan.

⁵ Marri waan hin jirreef,
gadansinuu akkuma dhaleen ilmee ifii lakkisee hin deema.

⁶ Harreeleen diidaa koobota godduu irra dhaabbattee,
akka jeedalaa qilleensa dhaggatiisaaf harganan;
marri waan hin jirreef
ilti isaanii dhagguu dadhaddeerti» jedhe.

⁷ Ee Mootii Waan Maraa,
yakkaan teenna nu irratti dhugaa baatulle,
ati maqaa keetiif jedhii nu qarqaar;
si'iif addatamiisa dhabiis keenna waan heddatteef,
nuuti si irratti cubbuu hunyeerra.

⁸ Ee addii Israa'elii,
ka yennaa rakkinnaa isii fayyittu,
ati maaniif lafa tanatti akka alaga'aa,
akka nama karaa deemuu,
ka halkan tokko callaa bulee taruu teete.

⁹ Ati maaf akka nama waan godhu wollaalee,
akka lolticha jabaa nama qarqaariisaaf hunna dhabee teete.

Ee Mootii Waan Maraa, ati nu odduu jirta;
nuuti maqaa keeti hin waammanna,
nu hin lakkisin.

¹⁰ Mootiin Waan Maraa marroo kolbaa tanaatiif, «Isaan asii fi achi joonjiisa
jaalatan; miilli isaanii hin dhaabbatu; tanaaf ani isaanitti hin gammadu;
amma ani yakkaa isaanii hin qaabadha; sababa cubbuu isaaniitiifille isaan
hin adaba» jedha.

¹¹ Mootiin Waan Maraa anaan, «Kolbaa tanaaf wonni dansaan akka isaaniif
teetu hin daadimatin.

¹² Isaan laamanee daadimatanulle ani daadimata isaanii hin caqasu;
woreega ciinca'aatii fi kennansa isaanii ka midhaanii, ani hin fudhadhu;
ammoo ani shallaaga'aan, beelaa fi bala'aan isaan hin balleessa» jedhe.

¹³ Achiin duuba ani, «Maalo'o, Gootaa Mootii Waan Maraa, raagoti isaaniin,
«Isin shallaagaa yookiin beela hin dhaggitanu; addee tanatti Mootiin Waan
Maraa nageya muummee hin qanne isiniif hin kenna» jedhiisatti jiran»
jedhe.

¹⁴ Mootiin Waan Maraalle anaan, «Raagoti maqaa kiyyaan raaga sobaa
raagiisatti jiran malee, ani isaan hin ergine yookiin isaan hin ajajne yookiin
isaanitti hin dubbanne. Isaan mudhii dharaa, moruu dharaa, waaqota
dharaa waaqonfataa soba gadhaa ifii keessaa isiniif raagan.

¹⁵ Tanaaf, raagota adoo ani isaan hin ergin maqaa kiyyaan raaga sobaa, «Beeltii fi shallaagaan lafa tanatti hin dhufanu» jettee raaddu, isaanuu beelaa fi shallaaga'aan hin badan.

¹⁶ Kolbaan isaan itti raaganu beelaa fi shallaaga'aan karaa Yersaaleemii irratti hin du'an; nami isaanii fi niitota isaanii, ilmaan isaaniitii fi ijoollee durraa ta isaanii awwaalu hin jiru. Sababa yakkaa isaaniitiif ani balaa isaan irratti hin dhangalaasa.

¹⁷ «Ati dubbii tana isaanitti dubbadhuutii, «Kolbaan tiyya madaa hantu'uun rakkatee, guddoo waan miidhanteertuuf, halkaniif guyyaa adoo wol irraa hin kutin, ilti tiyya imimmaan hin dhangalaatti.

¹⁸ Gara baadiyya'aa yoo baye,
 worra shallaaga'aan qalame dhagga;
 gara qacha'aa yoo seene,
 worra beelaan faru dhagga;
 raagotii fi hayyooti asii fi achi joonjaneeran;
 waan hujanulle hin beekanu» jedhe.

¹⁹ Ee Mootii Waan Maraa!
 Ati kolbaa Yihuda'aa ijjumaa gattee?
 Ati Xiyoona hin tuffatee?

Akka nuuti fayyuu hin dandeennetti
 ati maaf nu miite ree?
 Nuuti nageya addii godhannee
 ammoo waan dansaa hin dhagganee;
 Yennaa fayyinnaa eegannee
 ammoo bararaqiisaa calla'atti te'e.

²⁰ Ee Mootii Waan Maraa,
 nuuti si irratti cubbuu waan hunyeef,
 nuuti hammeenna keenna,
 yakkaa abbootii teenna ta duriille hubanneerra.

²¹ Maqaa keetii jedhiitii nu hin tuffatin;
 barcumaa mootumma'aa keeti ka ulfinnaa hin salphisin.
 Gondooroo nu waliin gondooratte
 qaabadhu malee hin diigin.

²² Waaqota dharaa
 ka gosa biyya adda addaa keessaa,
 ka bokkeya roobisiisuu dande'u jiraa ree?
 Ol-gubbaan ifumaan tiifuu gad kennitii ree?
 Waawwo'o! Ee Mootii Waan Maraa Waaqa keenna,
 tana ka godhu si'i.
 Tana mara ka godhu si waan te'eef,
 tanaaf, nuuti si'itti addanna.

15

Muraa Kolbaa Yihuda'aatitti Dhufu'uu Jirtu

¹ Achiin duuba Mootii Waan Maraa anaan, «Muuse'ee fi Saamu'el yoo na dura dhaabbatanelle, ani kolbaa tanaaf hin mararu. Fuula kiyya duraa isaan ari'i! Deemanuu ti.

² Isaan, «Nuuti eessa deenna» jedhanee yoo si gaafatane, akkuma ani Mootiin Waan Maraa sitti hime,
 ««Worri akka du'u itti murante, du'uu qaba;
 worri shallaaga'aan akka du'u itti murante,

shallaaga'aan du'uu qaba;
 worri beelaan akka du'u itti murante, beelaan du'uu qaba;
 worri akka booji'amu itti murante,
 hin booji'ama» jedhiin.

³ «Ani waan isaan balleessu afur shallaagaan akka isaan ijjeesu, sareen reeffa isaanii akka harkittu, allaatti'ii fi bineensoti nyaatanee akka isaan balleessanu isaanitti hin erga.

⁴ Mootiin Yihuda'aa ilmi Hisqiyaasii minaaseen, Yerusaalem keessatti yakkaa waan hujjeef, mootummoota biyya lafaa maratti waan hantuu nami dhaggee bararaqu isaan hin godha.

⁵ «Ee Yerusaalem!
 Eentu si'iif marara?
 Eentu si'iif bowa?
 Eentu dhaabbatee
 nageya si fuudha?

⁶ Ati na lakkitteerta;
 gara duubaa deebiteerta;
 tanaaf harka kiyya si irratti diriirsee, si hin balleessa;
 hagara achi si'iif hin mararu.

⁷ Kolbaan tiyya karaa ifii irraa deebi'uu waan diddeef,
 akka nama horooroon midhaan qulleessuu,
 karra qachoota lafa sanii duratti
 ani isaan hin bittinneessa.

Ijoollee isaanii fixee,
 kolbaa tiyyalle hin balleessa.

⁸ Ani haadhotii hiyyeessaa ta isaanii,
 maansa abbaaya'aa caalaa akka bacatanu hin godha.
 Haadhotii dargaggootaatti,
 guyyaa saafowaan ka balleessu itti hin fida.

Farraa fi bararaqa
 dedhuma isaanitti hin fida.

⁹ Haati ilmaan torbaa gaggaddee hin harganti;
 ifi guyya'aa isi'itti dukkana;
 isiin fokkifattee hin salphatti;
 worra jiru'uun hafe shallaagaa diinota isaaniititti,
 dabarsee hin kenna» jedhe.

¹⁰ «Haadha tiyya, naaf aanne'e!
 Maaf na deette?
 Ani nama lafa tanaa mara woliin
 nama morkuu fi nama moromu te'eera.
 Ani eennulle'eef hin liqeessine
 yookiin eennu irralle'ee hin liqaaffanne;
 te'uu malee nami marti na abaara.

¹¹ Mootiin Waan Maraa, «Ani dhugumaan kaayoo dansa'aaf si baase;
 yennaa badi'ii fi rakkinna keetii diinoti keeti akka si kadhatanu hin godha.

¹² Nami sibiila yookiin sibiila sageettu'uu ka biyya kaabaatii dhufu cassuu
 hin dande'aa ree?

¹³ «Sababa cubbuu teessanii maraaf karraa fi qabeenna keessan gatii malee
 worra saamutti dabarsee hin kenna.

¹⁴ Aariin tiyya ibidda isin gubu isinitti waan qassiittuuf, lafa hin beenne
 keessatti diinota keessaniif garba akka teetanu isin hin godha» jedhe.

¹⁵ Achiin duuba ani, «Ee Mootii Waan Maraa, ati hin beetta;
 na qaabadhuutii na qarqaar;

- worra na miidhulle ati naaf haluu bayi.
 Ati ossaamessa waan teeteef,
 na hin balleessin;
 ani si'iif jedhee akka salphadhe hin beetta.
- ¹⁶ Ee Mootii Waan Maraa, Waaqa Waan Mara Dandeettu,
 ani maqaa keetiin waan waamameef,
 jechi keeti yennaa gara kiyya dhufe,
 ani nyaadhee, gammadee burraaqe.
- ¹⁷ Worra caaqu woliin tee'ee,
 isaan woliin hin laallifanne.
 Harka keeti jala waan jiruuf,
 ati aari'iin waan na guutteef,
 qofii tiyya tee'e.
- ¹⁸ Dhibeen tiyya maaf natti jabaatte?
 Madaan tiyya maaf kulkultee fayyuu didde?
 Ati akka burqaa bisaanii ka nama sobuu,
 akka madda goguu maaf natti teeta ree?» jedhe.
- ¹⁹ Tanaaf Mootiin Waan Maraa, «Ati cubbuu irraa yoo deebite, ani adde'etti si hin deebisa; atille na hin tajaajilta. Ati dubbii woy hin baane lakkittee, dubbii woy baatu yoo dubbatte, ati ammalle raagaa kiyya hin teeta; kolbaan gara keeti deebituutii malee ati gara isaanii hin deebitu.
- ²⁰ Ani kolbaa tanaaf akka dalleya sibiila sageettu'uutiin ijaaramee si tolcha. Isaan si loliisaaf si irratti hin ka'an; ammoo ani si fayyisiisaa fi si baasiisaaf si woliin waan jiruuf, isaan si hin injifatanu.
- ²¹ Ani harka worra hamoole'eetii si hin baasa; harka worra gadhi-jabeeyyi'ii keessalle'ee si hin woda» jedha.

16

Guyyaa Badi'ii

- ¹ Ammalle jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,
² «Ati addee tanatti niitii hin fuudhin; ilmaan yookiin ijoollee durraalle hin uumatin.
³ Ilmaanii fi ijoolleen durraa ta asitti dhalatanu, haadhoti'ii fi abbootiin isaanii,
⁴ dhukkuba hama'aan hin du'an; nami isaaniif bowu yookiin isaan awwaalu hin jiraatu. Isaan akka cego'oo lafatti hin gataman; shallaaga'aa fi beelaan hin badan; allaatti'ii fi bineensotaaf sagalee hin te'an» jedhe.
- ⁵ Mootiin Waan Maraa, «Ani nageya kiyya, jaalala kiyya ka bara baraatii fi marartii tiyya kolbaa tana irraa waan fudhadheef, mana bowaa hin seenin; bowiisaaf yookiin gaddisaaf hin dhaqin.
- ⁶ Lafa tanatti worri gugurda'aa fi didiqqaan hin du'an; nami isaan awwaalu yookiin isaaniif bowu hin jiraatu; nami isaaniif ifi amaaxu* yookiin mataa ifii haadatulle hin jiraatu.
- ⁷ Worra nami irraa du'eef gaddu san jajjabeessiisaaf, nami haqaqoo geessuu hin jiraatu; worra abbaan yookiin haati irraa duuteeyyuu jaj-jabeessiisaaf daadhii woyni'ii nami geessu hin jiraatu.
- ⁸ Isaan woliin teettee nyaattee uniisaaf mana jilaa hin seenin» jedha.
- ⁹ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, Waaqi Israa'elii, «Kunoo, ani fuula keessan duratti, bara keessanitti, qoonqoo gammadaatii fi ililleetti'ii, qoonqoo waajibichaatii fi waajibitti'ii addee tana keessaa hin balleessa.

* **16:6** *If amaaxu:* jechuun ifi madeessu jechu'u.

¹⁰ Ati waan kana mara kolbaa tanaaf yennaa hintu, isaan, «Mootiin Waan Maraa badii guddoo tana maaf nutti dubbata? Yakkaan teenna maan? Mootii Waan Maraa Waaqa keenna irratti cubbuun nuuti hunye maan?» jedhanee yoo si gaafatane,

¹¹ ati isaaniin, «Mootiin Waan Maraa: Abbootiin teessan ta durii na lakkittee, waaqota dharaa ka dhibii hordottee, tajaajiltee waan waaqonfatteef tun teete; isaan na lakkisane; seera kiyyalle hin eegane.

¹² Isin ammoo abbootii teessan ta durii caalaa waan hantuu hujjane; tokko tokkoon keessan naaf ajajamiisa irra mataa jabeennaan hammeenna gadhaa keessanii attam attam akka hordottanu ilaala'a.

¹³ Tanaaf ani lafa tana keessaa isin baasee, lafa isinii fi abbootiin teessan ta durii hin beenne keessatti isin hin gata; ani waan isiniif hin marareef, isin achitti waaqota dharaa ka dhibii halkanii fi guyyaa hin tajaajiltan jedha» jedhiin» jedhe.

¹⁴ Tanaaf Mootiin Waan Maraa, «Guyyaan namooti, «Dhugaa Waaqaa jiraataa, Israa'el biyya Gibxi'ii keessaa baasee» jedhanee hin kakanne hin dhufa;

¹⁵ ammoo ani gara lafa abbootii isaanii ta duriitiif kenneetitti waan isaan deebisuuf, «Dhugaa Waaqa jiraataa Israa'eloota lafa kaabaa keessaa fi biyya isaan itti bittinneesse mara keessaa baasee fidee» jedhanee hin kakatan» jedhe.

Adabbii dhuttu

¹⁶ Mootiin Waan Maraa, «Amma ammoo ani akka qurxummi'ii worra kana akka guuranu nama hedduu hin erga; isaanille isaan hin guuran; achiin duuba adamsitoota hedduu hin erga; isaanille gaara mara irra, kooba mara irraa fi goda rassa'aa keessa isaan hin adansan.

¹⁷ Ani waan isaan hujanu mara hin dhagga; isaan fuula kiyya duraa dhokatuu hin dande'an; cubbuu isaaniille fuula kiyya duraa ta gollanteertuu moti.

¹⁸ Isaan fakkii fokkisiittuu lubbuu hin qanneen lafa tiyya waan batteessaneef, waaqota dharaa battii sanille'een lafa tiyya waan guutaneef, sababa hammeennaa fi cubbuu isaaniitiif adabbii dachaa isaanitti hin fida» jedha.

¹⁹ Ee Mootii Waan Maraa! Ati jabeennaa fi gollata kiyya; guyyaa rakkinnaalle addee ani itti baqadhu. Gosi biyya adda addaa lafa mara irraa dhufanee, «Abbootiin teenna ta durii waaqonfannaa dharaa, waaqota dharaa ka bu'aa hin qanne ka waan dansaa isaaniif hin goone malee, womaa hin qabanuuyyu» hin jedhan.

²⁰ Mootiin Waan Maraa, «Nami ifiif waaqa dharaa hujatuu dande'aa? Eeti'i! Ammoo Waaqa dhuga'aatii moti.

²¹ Tanaaf ani isaan hin barsiisa; amma ani hunnaa tiyyaa fi jabeenna kiyya isaan hin barsiisa; achiin duuba isaan maqaan kiyya Mootii Waan Maraa akka te'e hin beekan» jedha.

17

Cubbuu Kolbaa Yihuda'aatii Fi Adabamiisa Isaanii

¹ Mootiin Waan Maraa, «Cubbuun kolbaa Yihuda'aa feenii sibiilaatiin, arfi dhakaa almaaziitiin gadhaa isaaniitii fi gaafa addee ciinca'aa ka isaanii irratti qiriixantee barreeffanteerti.

² Ijoolleen isaaniituu addee ciinca'aa ta isaaniitii fi utubaa waaqa dharaa ta, «Asheeraa» jedhantu, ta muka bisilee jalaatii fi ta koobota dhedheertuu irraa qaabatan.

³ Sababa cubbuu biyya teessaniitiif, gaara kiyya ka lafa teessan keessa jiru, qabeenna keessanii fi karra teessan mara addee waaqonfanna'aa woliin akka saamamu hin godha.

⁴ Balleessaa teessaniif lafa ani isinii kenne dhaddan; aariin tiyya akka ibiddaa haga bara baraa akka bobeettu waan gootaneef, lafa isin hin beenne keessatti diinota keessaniif garba isin tolcha» jedha.

⁵ Ammalle Mootiin Waan Maraa,
«Nami namatti addattu,
ka nama foon uffatetti irkatee,
jabeenna ifii godhatu,
ka gadhaan isaa Mootii Waan Maraa irraa fagaate,
ka abaarame.

⁶ Inni akka tusee goomolee keessaa hin te'a;
wonni dansaan yennaa dhuttu hin dhaggu.
Lafa sooddaa ta nami keessa hin jirre,
addee godduu goomolee keessa hin le'a.

⁷ Ammoo nami Mootii Waan Maraa addatu,
ka Mootii Waan Maraa addii godhatu ka eebbifame.

⁸ Inni akka muka bisaan biratti dhaabamee,
ka hidda ifii gara lagaa yaafatuu hin te'a.
Muki sun o'i yennaa dhufu hin sodaatu;
baalli isaa yennaa mara bisile'e.

Bara oola'aa hin yaadu;
midhaan buusiisa hin lakkisu.

⁹ Qalbiin namaa waan mara caalaa
dabaaletti qajeeluu hin dandeenne.
Eentu isii hubatuu dande'a ree?

¹⁰ Ani Mootiin Waan Maraa nama maraaf
akka ideensa isaatii fi
akka hujii isaatitti gatii isaaf kenniisaaf,
gadhaa namaatii fi qalbii namaa
qorqoree hin ilaala» jedha.

¹¹ Nami dabaan karra wolitti qabatu,
akka gororrii quuphaa ifii hin buusin dhoofattuu ti;
wodhakkaa bara jiruu isaatitti
wonni inni wolitti qabate sun marti,
isa lakkittee hin dhumatti;
muummee irratti inni gowwaa akka te'e hin mirkanootti.

¹² Barcumaan mootumma'aa ka ulfinnaa,
durii jalqabee ka saadame,
addee Dunkaanii Woyyittii teennaa ti.

¹³ Ee Mootii Waan Maraa, addii Israa'elii,
worri si lakkisu marti hin fokkifatan.
Worri si irraa duubatti deebi'u,
bisaan madda jiru'uu ka teete,
si Mootii Waan Maraa waan lakkisaneef,
akka barreeffama bukuu irraa ti.

¹⁴ Ee Mootii Waan Maraa, ati ka ani leellifadhu waan teeteef,
na fayyisi, anille hin fayya;
na baasi, anille hin baya.

¹⁵ Kolbaan, anaan, «Jechi Mootii Waan Maraa eessa jira?

Me amma muummowuu ti» jedhiisatti jirti.

- ¹⁶ Ani akka ati na ajajetti
tisse te'iisa hin lakkinne;
guyyaan hamaan akka dhufu
akka ani hin halchin hin beetta;
wonni ani dubbadhe marti si duratti ifa.
- ¹⁷ Na hin sodaachisin;
guyyaa rakkinnaa addeen ani itti baqadhu si'i.
- ¹⁸ Worri na miidhu fokkifatuu ti;
ani ammoo hin fokkifatin.
- Isaan bararaanuu ti;
ani ammoo hin bararaan.
- Guyyaa badi'ii isaanitti fidi;
badii dacha'aan isaan balleessi.

Guyyaa Sanbataa Ulfeessuu

- ¹⁹ Mootiin Waan Maraa anaan, «Dhaqiitii, karra kolba'aa, ta moototi Yihuda'aa ittiin ol seenanuu fi gad bayanu dura, karra Yerusaalemii ta dhibiille mara dura dhaabbadhuutii,
- ²⁰ isaanii, «Isin moototi Yihuda'aa, kolbaan Yihuda'aa maraa fi worri Yerusaalem keessa leetanu karra tanaan worri ol seentanu marti jecha Mootii Waan Maraa dhage'a'a» jedhiin» jedhe.
- ²¹ Mootiin Waan Maraa, «Guyyaa Sanbataa ba'aa hin ba'atina'a; karra Yerusaalemiitille'een akka ol hin seensinne lubbuu teessaniif ifi eegadha'a.
- ²² Akkuma ani abbootii teessan ta durii ajaje, woyyummaa guyyaa Sanbataa eega'a malee, ba'aa ba'attanee mana keessanii hin bayina'a; hujii tokkolle hin hujina'a.
- ²³ Isaan ammoo hin dhageenne yookiin itti hin xiyyeeffanne; isaan akka hin dhageenne yookiin gorsa akka hin fudhanne mataa jabaatane.
- ²⁴ Isin ammoo akka dansaa yoo naa ajajantane, guyyaa Sanbataa ba'aa ba'attanee karra qachaa kanaatiin yoo ol hin seenin, hujii tokkolle hujuu dhaddanee, woyyummaa guyyaa Sanbataa yoo eeddane,
- ²⁵ moototi barcumaa mootummaa Daawitii irra tee'anuu qondaaltota ifii waliin karra qachaa kanaatiin ol hin seenan; isaanii fi qondaaltoti isaanii fardo'oo fi Garreettaa fardaan harkifamu irra tee'ane, worra Yihuda'aatii fi worra Yerusaalem keessa le'u waliin hin dhufan; qachaa kana keessa haga bara baraa nami hin le'a.
- ²⁶ Namooti qachaa Yihuda'aa keessaa, olloota adaala Yerusaalemiitii, lafa Beniyaamiinitii fi lafa kooba jalaa ta gara aduun seentuutii, biyya koobitti'ii fi biyya goomolee kibba Kana'aaniitii, kennansa gubamu fi ciincaa, kennansa midhaanii, hixaanaa fi kennansa galataa qabatane gara Galma Mootii Waan Maraa hin dhufan.
- ²⁷ Isin ammoo naaf ajajamuu yoo diddane, woyyummaa guyyaa Sanbataa eegiisa yoo dhaddane, ba'aa ba'attanee karra Yerusaalemiitiin yoo ol seentane, karra Yerusaalemii keessatti ibidda hin dhaanne ka dalleya dhaka'aa Yerusaalemii nyaatee balleessu hin qassiisa» jedhe.

18

Nama Faara Dhowuu Fi Faara

- ¹ Jechi Mootii Waan Maraa ka gara Ermiyaasii dhufe ka asii gad jiru:
- ² «Ka'iitii, gara mana nama faara dhowuu gad bu'i; ani achitti ergaa tiyya sitti hima» jedhe.

³ Maarre ani gara mana nama faara dhowuu gad bu'ee, inni korboo ifii ta dhaka'aa irratti faara dhowuun dhagge.

⁴ Okkoteen inni faara irraa dhowu sun ammoo harka isaatitti badde; maarre inni faaruma san akka isaaf toltetti deebisee okkotee dhibii huje.

⁵ Achiin duuba jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

⁶ «Ee, kolbaa Israa'elii! Akkuma nami Faara dhowu kun huju, anille isin hujuu hin dande'uu ree? Akkuma faarri harka nama faara dhowuu keessa jiru, isinille harka kiyya keessa jirtan.

⁷ Ani kolbaan takka yookiin mootummaan takka, akka buqqaatu, akka diigantu fi akka baddu yoo dubbadhe, yennuma san

⁸ kolbaan sunille waan hantuu irraa yoo deebite, ani badii isaanitti fidiisaaf yaade san hin lakkisa.

⁹ Ani Yennaa dhibiille Kolbaa takka yookiin mootummaa takka ijaaree dhaabiisaaf yoo dubbadhe,

¹⁰ kolbaan sunille na duratti waan hantuu hujjee naaf yoo ajajamuu didde, waan dansaa isaaniif godhiisaaf yaade san hin lakkisa.

¹¹ Tanaaf amma ati kolbaa Yihuda'aatii fi worra Yerusaalem keessa le'uun, Kunoo Mootiin Waan Maraa, «Badii isiniif qopheessiisatti jira; karoora hamaalle isin irratti baasiisatti jira; maarre isin martinuu karaa hamaa keessan irraa deebi'a'aatii, tokko tokkoon keessan karaa keessanii fi hujii teessan qajeelfadha'a» jedheera.

¹² Isaan ammoo, «Lakkii, kun bu'aa hin qabu; nuuti karooruma keenaa gula deenna; tokko tokkoon keenaaayyuu mataa jabeenna hantuu gadhaa keenaa gula deenna» hin jedhan» jedhe.

¹³ Tanaaf Mootiin Waan Maraa isaaniin,
«Me odduu gosa biyya adda addaa gaafadha'a;
waan akkasii nami dhage'ee beeku jiraa?
Kolbaan Israa'elii
waan nafa namaa shuguggeessu hujjeerti.

¹⁴ Dhakaan bokkeyaa ka Libaanonii,
rassaa goodda isi'ii irraa dhabamee beekaa?
Bisaan dillowaan gaara Libaanonii irraa gad yaa'u
gogee beekaa?

¹⁵ Kolbaan tiyya ammoo na deeteerti;
isaan waaqota dharaa ka woy hin baaneef,
ka karaa isaanii ka durii irraa isaan gufachiisee,
karaa hin teene irra isaan ideensisuuf
hixaana aarsaneeran.

¹⁶ Latti isaanii ontee,
haga bara baraa ta murgoo hin teeti;
nami karaa san dabaru marti baaseffatiisaan
mataa ifii raasan.

¹⁷ Akka qilleensa karaa aduun baatuu,
diinota isaanii duratti ani isaan hin bittinneessa;
guyyaa badiin isaanitti dhuttu,
ani dudda kiyya isaanitti mudhisa malee
fuula kiyya isaanitti hin mudhisu» jedha.

Mala Ermiyaasitti Dhowane

¹⁸ Achiin duuba isaan, «Seera barsiisiis hayyoota biraa, gorsi qaroolee biraa, jechi raagota biraa waan hin dhabanneef, maarre kowa'a, Ermiyaas irratti mala dhoonnee, waan inni dubbatu mara dhage'uu didannee, dubbi'in isa rakkinna» jedhane.

- 19 Maarre ani daadimadhee, «Ee Mootii Waan Maraa naa caqasi;
 waan diinoti kiyya jedhanu dhage'i!
- 20 Gatii waan dansa'aa waan hantuu kaffalanii ree?
 Isaan ammoo boolla naaf qotaneeran;
 mufii teeti akka ati isaan irraa deebifattuuf,
 fuula keeti dura dhaabbadhee,
 isaaniif akka ani si kadhade qaabadhu.
- 21 Tanaaf ijoollee isaanii beelessi;
 shallaaga'aaf dabarsiitii isaan kenni!
 Niitoti isaanii ta ijoollee hin qannee fi
 haadhotii hiyyeessaa te'anuu ti.
- Dhiira isaanii fixi;
 dargaggooti isaanii lola keessatti akka qalamanu godhi.
- 22 Isaan na qabiisaaf boolla waan qotaneef,
 miila kiyyaaf tiyyoo waan afaneef,
 yennaa ati dedhuma worra isaan lolu itti fidde,
 mana isaanii keessaa iyyi dhage'antuu ti.
- 23 Ee Mootii Waan Maraa!
 Mala isaan na ijeesiisaaf dhowane, ati hin beetta.
- Yakkaa isaanii isaaniif hin araaramin;
 cubbuu isaaniille fuula keeti duraa haxoottee hin balleessin.
- Isaan fuula keeti duratti jigane badanuu ti;
 ati yennaa isaanitti aarte isaanitti muri» jedhe.

19

Fakkeenaa Okkotee Caddee

- 1 Mootiin Waan Maraa aanan, «Dhaqiitii nama faara dhowu irraa okkotee bitadhu; jaarsolee kolba'aa keessaa garii, maanguddoota hayyootaa keessalle'ee garii qabadhuutii
- 2 gara dhooqa Ben-Hiinomii ta seensuma karaa karra basso'oo biraa gad bayi; achitti waan ani sitti dubbadhu lallabiitii,
- 3 «Ee mootota Yihuda'aatii fi kolbaa Yerusaalemii jecha Mootii Waan Maraa dhage'a'a. Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade Waaqi Israa'elii: ani badii dhage'iisaaf gurra namaatitti hin tolle addee tana irratti hin fida.
- 4 Sababille isaan na lakkisane addee tana ta waaqota ormaa godhaneeran. Isaan addee tana keessatti waaqota ifiifuu hin beenne, ka abbootiin isaaniitii fi moototi Yihuda'aalle ijumaa hin beenneef hixaana aarsanee, dhiiga worra yakkaa hin qanneetiin addee tana guutaneeran.
- 5 Isaan waan ani hin ajajin yookiin ani hin dubbatin, yookiin ta ani ijumaa hin yaadatin, ilmaan ifii ibiddaan gubanee Ba'aaliif kennansa dhikeessiisaaf, addee waaqonfanna'aa Ba'aaliif ijaarane.
- 6 Tanaaf kolbaan addee tana «Dhooqa qalmaa» jetti malee, «Toofet» yookiin «Ben-Hiinom» jettee barri hin waanne hin dhufa» jedhi.
- 7 Ani addee tanatti karoora kolbaa Yihuda'aatii fi kolbaa Israa'elii hin diiga. Ani diinota isaanii duratti harka worra lubbuu isaanii barbaaduutitti shallaaga'aan akka isaan ijeefamanu hin godha; reeffa isaanii allaatti'ii fi bineensotaaf sagalee hin godha.
- 8 Ani qachaa kana diigee, waan ittiin murganu hin godha; sababa gaargala isi'ii maraaf worri karaa san dabaru marti hin maadeffata.
- 9 Ani foon ilmaan ifiitii fi ijoollee durraa ifii akka isaan nyaatanu hin godha; diinoti isaanii ka lubbuu isaanii balleessiisaaf barbaadu yennaa isaan marsee rakkisu, isaan foon wolii hin nyaatan.

¹⁰ «Achiin duuba worra si woliin jiru san duratti okkotee cassiitii,

¹¹ isaaniin, «Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade: Akkuma okkoteen nama faara dhowuu bututteen duuba deebitee suphamuu hin dandeenne, akkuma kana ani kolbaa tanaa fi qachaa kana hin butucha; haga addee itti awwaalanu dhabantutti reeffa isaanii Toofetitti hin awwaalan.

¹² Ani addee tanaa fi worra as keessa le'u mara irratti tana hin godha. Ani qachaa kana akka Toofetii hin godha.

¹³ Kolbaan heellichoo mana ifii irratti waaqota ifii waan waaqonfataneef, manni Yerusaalem keessaatii fi manni mootumma'aa ka mootota Yihuda'aa akka addee tanaa, akka Toofetii hin battowan; isaan urjoota waaqonfataneef, isaan ulfeessiisaaf hixaana aarsanee, waaqonfatiisaaf kennansa daadhii woyni'ii kennaneeran» jedhiin» jedhe.

¹⁴ Ermiyaas addee Mootiin Waan Maraa akka inni raaga dubbatuuf erge Toofetii deebi'ee, badhinna Galma Mootii Waan Maraa duraa keessa dhaabbatee, kolbaa maraan,

¹⁵ «Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, Waaqi Israa'elii, «Isaan mataa jabaataneef jecha kiyya waan hin caqasiniif, ani qachaa kanaa fi ollaa adaala qachaa kanaa jiru maratti badii itti fidiisaaf dubbadhe mara hin fida» jedha» jedhe.

20

Ermiyaasii Fi Phashihur

¹ Dura bu'aan Galma Waaqaa, ilmi Iimerii hayyichi Phashihur, Ermiyaas raaga kana raaguun yennaa dhage'e,

² raagicha Ermiyaas dhaanee, karra Galma Waaqaa ta Beniyaaminii ta gatiiti'iititti miila isaa jirma lama wodhakkaa galchee hidhe.

³ Boruyyaa Phashihur yennaa jirma lama san wodhakka'aa Ermiyaas hiike, Ermiyaas isaan, «Haganaa achi Mootiin Waan Maraa, «Maagor Miisaabiib*» jedhee si waama malee «Phashihur» si'iin hin jedhu» jedhe.

⁴ Mootiin Waan Maraa, «Si'ii fi jaalota teeti mara akka bararaxxanu hin godha; adoo ati ilaan dhaggittuu shallaagaa diinotaatiin hin dhumatan; ani kolbaa Yihuda'aa mara harka mootii Baabilonii ka isaan booji'utti yookiin ka isaan ijjeesutti dabarsee hin kenna.

⁵ Qabeenna qachaa kanaa mara, waan qachaan kun dhaggatu mara, meya gatii guddo'ootii fi karra mootota Yihuda'aa mara harka diinota isaaniititti dabarsee hin kenna; isaanille saamanee gara biyya Baabilonii hin geessan.

⁶ Ee Phashihur, atii fi worri mana keeti keessa le'u marti gara Baabilonii booji'antaneef hin deentan; ati jaalota teeti ta raaga dharaa isaaniif raadde mara woliin duutee, achitti hin awwaalanta» jedhe.

Gungunsuu Ermiyaasii

⁷ Ee Mootii Waan Maraa!

Ati na sodde;

anille sobame.

Ati na caalaa jabaa waan teeteef
na injifatte.

Guyyaa mara nami natti murga;

nami marti natti kolla.

⁸ Ani yennaa dubbadhu mara qoonqoo ol qabadhee,
marroo hunnaan nama irratti ka'iisaatii fi
marroo badi'ii dubbadha;

* **20:3** Maagor Miisaabiib: Afaan Ibrootaatiin Gara maraan bararaquu jechu'u.

- guyyaa mara Jechi Mootii Waan Maraa
arrabaa fi qaanii natti fide.
- ⁹ Ani ammoo, «Haganaa achi maqaa waaqaa hin dhowu;
maqaa isaatile'een waan tokkolle hin dubbadhu» yoo jedhe,
jechi isaa gadhaa kiyya keessatti akka ibiddaa bobee'ee,
lafee tiyya keessa lixe.
- Ifi keessatti qabatiisa dadhabe;
ijjumaa hin dandeenne.
- ¹⁰ Ani worri bacaan hasaasaa, «Bararaqi addee mara jira;
waan inni jedhe hima'a!
Kowa'a waan inni jedhe hinnaa!» jedhanuun dhage'e.
Jaaloti tiyya marti, «Inni hin sobama fa'a te'a;
achiin duuba isa injifannee,
haluu teennalle isa hin baana» jedhaa gufatiisa kiyya eegan.
- ¹¹ Mootiin Waan Maraa ammoo
akka loltuu jabaa jannaa na woliin jira;
tanaaf worri na ari'u hin jiga malee
na hin injifatu.
- Isaan akka malee qaanowan malee
wonni isaan yaadanu isaaniif hin teetu.
- Salphinni isaaniille
ijjumaa hin dedhamu.
- ¹² Ee Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadde,
ka balchaa haga ilaaltu,
ka gadha'aa fi qalbii qorqortu,
haajaa kiyya waan sitti kennadheeruuf,
yennaa ati isaan haluu baatu,
ani isaan dhagguu ti.
- ¹³ Mootiin Waan Maraa lubbuu worra rakkata'aa
harka worra hamoole'ee keessaa waan baaseef
isaaf faarsa'a;
isa leellifadha'a.
- ¹⁴ Guyyaan ani dhaladhe ka abaarama te'uu ti!
Guyyaan haati tiyya na deette hin eebbifamin!
- ¹⁵ Nami abbaa kiyyaan, «Ilmi si'iif dhalateera» jedhee,
oduu gammadaa itti himee isa gammachiisu
ka abaarama te'uu ti.
- ¹⁶ Nami sun akka qachaa marartii malee
Mootiin Waan Maraa balleessee te'uu ti!
Ganama bowa,
orraa iyya lolaa dhage'uu ti!
- ¹⁷ Sababille inni gadhaa haadha tiyyaa keessatti
na hin ijjeenne;
silaa isiin addee awwaalaa naaf teetee,
haga bara baraa gadhaachottee turtiiyyu.
- ¹⁸ Ani rakkinnaa fi gadda dhaggiisaaf
bara kiyya qaani'iin muummeffatiisaaf
gadaamessa haadha tiyyaa keessaa maaf baye?

21

Deebii Mooticha Zedeqiya'aaf kennante

¹ Mootiin Yihuda'aa Zedeqiiyaan, ilma Malkiyya'aa Phashihurii fi ilma Ma'aseya'aa Sefaaniyaasii hayyicha gara Ermiyaasii yennaa erge, jechi Mootii Waan Maraa gara Ermiyaasii dhufe;

² worri mooticha biraa ergame sun Ermiyaasiin, «Mootiin Baabilonii Nebukadnezaar waan nu lolaaruuf, maganne'e Mootii Waan Maraa nu'uuf gaafadhu; Mootiin Waan Maraa akkuma qaraa bilbaasa hujee akka mootichi nu irraa deebi'u hin godha fa'a te'a» jedhane.

³ Ermiyaas ammoo deebisee isaaniin, «Dhaqa'aatii Zedeqiiya'aan,

⁴ «Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, worra dalleyaan alaan isin marsane, mootii Baabiloniitii fi worra baabilonii loliisaaf meya woraanaa ka isin harkatti qabattane san isin irratti garagalcha; qachaa kana keessalle'etti isaan wolitti hin qaba.

⁵ Aninuu harka kiyya diriirfadhee irree jaddu'uun, aari'iin, aarii bobbeetuu fi mufii guddo'oon isin hin lola.

⁶ Namaa fi horii qachaa kana keessa jiranu mara dhowee, balaa gudda'aan hin fixa.

⁷ Saniin duuba mootii Yihuda'aa Zedeqiiyaa, qondaaltota isaatii fi kolbaa qachaa kana keessaa worra balaa irraa, shallaaga'aa fi beela irraa lubbu'uun hafane, harka mootii Baabilonii Nebukadnezaariititti, harka diinota isaanii worra jiruu isaanii balleessiisaaf barbaaduutitti dabarsee isaan hin kennaa; mootichi shallaaga'aan isaan hin ijjeesa; inni isaaniif hin mararu yookiin isaaniif hin nawu yookiin gadhaa hin laafu» jedha'aatii itti hima'a» jedhe.

⁸ Mootiin Waan Maraa ammalle raagichatti dubbatee, «Kolbaa tanaan Mootiin Waan Maraa, «Kunoo ani karaa jiru'uutii fi karaa du'aa isin dura keyeera.

⁹ Nami qachaa kana keessatti hafu marti shallaaga'aan, beelaa fi bala'aa hin du'a; nami achi keessaa bayee worra Baabilonii ka qachaa marsanetti harka kennate ammoo hin du'u; jiruulle'een hin baya.

¹⁰ Ani qachaa kana irratti waan dansaa adoo hin te'in waan hantuu godhiisaaf murteeffadheera; qachaan kun harka mootii Baabiloniititti dabarfamee hin kennama; innille ibiddaan hin guba» jedha.

¹¹ «Mana mootummaa Yihuda'aatiin, «Jecha Mootii Waan Maraa dhage'a'a!» jedhiin.

¹² Ee sanyii Daawitii, Mootiin Waan Maraa isiniin, «Sababa hujii hantuu isin hujjaneef, aariin tiyya akka ibidda eennulle dhaanfuu hin dandeennee akka hin bobeenne, guyyaa mara haqa huja'a; nama saamame harka worra isa cunqursuu keessaa baasa'a.

¹³ ««Ee qachaa Yerusaaalemii, ka dhooqaan gubbaa, lafa rassittii gooroo irra jiru; ani si hin morma; isin worri: Eentu dhufee nu mormuu dande'a? Eentu addee nuuti itti baqanne seenuu dande'a? jettanu

¹⁴ Ani akkuma hujii teessaniititti isin hin adaba; mana mootummaa'aa keessan, ka «Gongomaa» jedhamutti ibidda qassiisee waan adaala san jiru mara hin fixa» jedheera» jedhe.

22

Muraa Mootota Hamaaleyyii Irratti Murante

¹ Mootiin Waan Maraa, «Gara mana mootummaa'aa ka mootii Yihuda'aa gad dhaqii achitti ergaa tana lallabiitii:

² «Ee mootii Yihuda'aa ka barcumaa mootumma'aa ka Daawitii irra teet-teertu, gondaaltoti teetii fi kolbaan teeti ta karra tanaan seentu jecha Mootii Waan Maraa dhage'a'a» jedhi» jedhe.

³ Yennaa san raagichi, «Mootiin Waan Maraa, «Waan haqa te'ee fi waan sirrii te'e huja'a. Nama saamame harka worra isa cunqursuutii baasa'a. Nama ormaa, ijoollee abbaa hin qanne yookiin haadha hiyyeessaa irratti yakkaa hin hujina'a yookiin hunnaan irratti hin ka'ina'a. Addee tanatti dhiiga nama yakkaa hin qanneelle hin dhangalaasina'a.

⁴ Isin ajaja kana akka dansaa yoo eegattane, moototi barcumaa mootumma'aa ka Daawitii irra tee'anuu, gondaaltotaa fi kolbaa ifii woliin garreettaa fardaan harkifamuu fi farda irra tee'anee karra mana mootumma'aa tanaan seenaa hin bayan.

⁵ Isin ajaja kana yoo hin eegatin ammoo manni mootumma'aa kun akka diigamu aninuu kakadheera» » jedha.

⁶ Mootiin Waan Maraa marroo mana mootummaa mootii Yihuda'aatiif, «Ati manni mootumma'aa ka mootii Yihuda'aa, akka Giil'aadiitii fi akka qaccee gaara Libaanonii miidhagaa naaf teetulle, ani dhugumaan akka lafa goomole'ee, akka qachaa nami keessaa hin jirree si hin godha.

⁷ Worri si balleessu meya woraanaa qabatee akka sitti dhufu hin godha; isaan utuboota muka hindheensaa keeti miidhagaa san mummurane ibiddatti hin gatan.

⁸ «Gosi biyya adda addaa bacaan qachaa kana keessa dabaraa: «Mootiin Waan Maraa qachaa guddaa kana maaf akkana godhe?» jedhaa wol gaafatan.

⁹ Achiin duuba: «Isaan gondoosoo Mootii Waan Maraa ta Waaqa ifii diganee, waaqota dharaa dhibii waaqonfatane waan tajaajilaneef tun teete jedhan» jedha» jedhe.

¹⁰ Mootichi booji'ame ijjumaa waan hin deebinneef, biyya itti dhalate san deebi'ee waan hin dhaggineef isaaf bowa'a malee mooticha du'eef hin bowina'a; hin gaddinaalle'e.

¹¹ Mootiin Waan Maraa marroo Shaalumiin ilmi Yosiyaasii ka addee abbaa ifii bu'ee Yihudaa irratti mootii te'ee, «Inni haganaa achi as hin deebi'u;

¹² inni addee booji'amee dhage sanumatti du'a malee lafa tana deebi'ee hin dhaggu.

¹³ «Nama mana mootumma'aa ka ifii seera malee, kolloo ifii ta mana irraalle haqa malee ijaarsifatuuf, ka kolbaa ifii akkasumaan hujisiifatuuf, ka eloo isaaniif hin kaffalleef aanne'e!

¹⁴ Inni, «Ani mana mootumma'aa guddaa, ka kolloo badhoo ifi irraa qabu hin ijaarradha; foddaa hedduu itti hin baafadha; muka birbirsatiin seefadhee halluu diintuu itti halladha» hin jedha.

¹⁵ Mana keeti muka birbirsatiin ijaaratiisaan mootii teete seetaa? Abbaan keeti haqaa fi balchummaa waan hujeeff

- waan nyaatuu fi unu dhabeeraa?
 Maarre wonni marti isaaf teeteerti.
¹⁶ Inni worra hiyyeessaa fi worra rakkata'aafille,
 haqaan mureera;
 tanaaf wonni marti isaaf teete.
 Ana Mootii Waan Maraa beekiisi tana jechu'uu motii ree?
¹⁷ Ilti teetii fi gadhaan keeti ammoo
 bu'aa dabaan dhaggatanu irratti,
 dhiiga worra yakkaa hin qannee dhangalaasiisa irratti,
 nama miidhiisaa fi saamiisa irratti xiyyeeffatan.
¹⁸ Tanaaf mootii Yihuda'aa Yehoyaaqiimii ilma Yosiyaasiitiif,
 nami, «Aannee obboleessa kiyya! Aannee obboleettii tiyya!
 Aannee gootaa kiyya!
 Aannee arnya isaa!» jedhee isaaf bowu hin jiru;
¹⁹ inni akka harree duutee harkifamee,
 dalleya Yerusaalemiitiin alatti hin gatama.
²⁰ Ee kolbaa Yerusaalemii! Jaaloti teessan waan badaneef
 gara Libaanonii ol baya'aatii iyya'a!
 Qoonqoo teessan ol-qabadha'aatii
 Baashaan keessatti dhageessisa'a;
 gaara Abaariimii irralle'etti iyya'a!
²¹ Yennaa isin nageyaan jirtanu, ani isinitti dubbadheera;
 isin ammoo dhage'uu diddane.
 Bara ijoollummaa teessaniitii jalqaddanee
 kanuma hujjane;
 isin naaf hin ajajanne.
²² Soorressitoota teessan mara qilleensi fuudhee hin dabara;
 jaaloti teessanille booji'amanee hin deeman;
 Achiin duuba isin sababa hammeenna keessaniitiif
 qaanotanee hin salphatan.
²³ Isin worri hindheensa Libaanoniitiin
 mana mootumma'aa keessa ijaarrattanu,
 akka dubartii ciniinsifattuu
 rakkoon yennaa isin dhaqqadde,
 attam attam aaddan ree?

Muraa Waaqaa Ta Yehoyaaqiim Dhaqqadde

- ²⁴ «Ee Yehoyaakiinii mootii Yihuda'aa, ilma Yehoyaaqiimii! Dhugaa ana
 Waaqa jiraata'aa, ati chaappaa qubee harka kiyyaa middichaa adoo teetee
 jiraattelle'ee ifi irraa baasee si hin gata.
²⁵ Ani harka worra si ijjeesiisaaf barbaadutti, harka worra ati sodaatutti,
 harka mootii Baabilonii Nebukadnezaariitii fi harka worra Baabiloniititti
 dabarsee si hin kenna.
²⁶ Ani si'ii fi haadha teeti ta si deette gara biyya dhibi'ii ta isin keessatti hin
 dhalatinitti isin hin gata; isin lamaanuu achitti hin duutan.
²⁷ Lafa itti deebi'iisaaf dharraatanu sanitti ijumaa hin deebitanu» jedhe.

- ²⁸ Yehoyaakiin kun
 akka okkotee caddee
 ta nami hin barbaannee,
 ka tuffatamee ree?
 Innii fi ijoolleen isaa
 lafa hin beennetti maaf gatamane ree?
²⁹ Ee lafa! Lafa! Lafa!

Jecha Mootiin Waan Maraa dhage'i!

- ³⁰ Mootiin Waan Maraa, «Sanyii namicha kanaa keessaa, haganaa achi dhalatee barcumaa mootummaa Daawitii irra ka tee'u, yookiin ka biyya Yihuda'aa bulchu tokkolle waan hin jiraanneef, inni akka nama ijoollee hin qannee, akka nama bara jiruu ifii keessatti wonni tokkolle isaaf hin tolinii akka te'e galmeessi!» jedhe.

23

Addii Gara Duraa

- ¹ Mootiin Waan Maraa, «Tissitoota addee tika kiyyaatii hoolota tiyya bittinneessitee balleessituuf aanne'e!» jedha.

² Tanaaf Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii marroo bulchitoota kolbaa tiyya eedduutiif, «Isin kolbaa tiyya bittinneessitanee waan ariitaneef, akka maltetti waan hin eeginiif, waan hantuu isin hujjaneef ani isin hin adaba.

³ Aninuu kolbaa tiyya ta lubbu'uun hatte, biyya isaan itti bittinneesse san mara keessaa wolitti qabee biyya isaaniititti isaan hin deebisa; isaan achitti horanee hin bacatan.

⁴ Ani tissitoota isaan eeddu isaaniif hin kaasa; isaan haganaa achi hin sodaatanu yookiin hin bararaanu, tokkolle isaan keessaa hin dhidhatu» jedha.

⁵ Mootiin Waan Maraa, «Kunoo, barri ani sanyii Daawitii keessaa mootii balchumma'aan bulchu kaasuu dhufaa; inni lafa irratti qarumma'aan bulchaa, waan sirrii te'e hujaa muraa haqaalle hin mura.

⁶ Bara isaa keessatti kolbaan Yihuda'aa diina ifii jalaa hin baati; kolbaan Israa'eliille nageyaan hin leeti. Maqaan isaalle, «Mootiin Waan Maraa balchummaa teenna» jedhamee hin waamama.

⁷ «Tanaaf barri kolbaan, «Dhugaa Mootii Waan Maraa Ka jiraataa te'ee, ka Israa'eloota biyya Gibxi'ii keessaa baase» jedhane kakuu lakkisane,

⁸ «Dhugaa Mootii Waan Maraa ka jiraataa te'ee, ka Israa'eloota biyya kaabaatii fi addee isaan itti bittinneesse keessaa baase» jedhane kakanu hin dhufa» jedha. Achiin duuba lafa ifii keessa hin le'an.

Raagota Dharaameyyii

- ⁹ Marroo raagotaatiif:

Gadhaan kiyya raafameera;

lafeen tiyya hollatteerti.

Sababa Mootii Waan Maraatiif,

sababa jecha woyyicha isaatiif,

ani akka nama machowee,

akka nama daadhii woyni'ii unee ifi wollaalee te'eera.

- ¹⁰ Latti worra gaarayyeffatuun guutanteerti;

sababa kanaaf Mootiin Waan Maraa lafa abaaree,

latti tun gadditeerti;

kaloon goomolee keessaalle qoorteerti.

Raagoleen marti waan hantuu hordottee,

baallii ifii seera malee itti fayyadamaneeran.

- ¹¹ Mootiin Waan Maraa,

«Raagotii fi hayyooti worra Waaqa malee le'u;

Galma kiyya keessattuu

ani hammeenna isaanii dhaggeera.

12 Tanaaf karaan isaanii mucucaataa hin te'a;
isaan gara dukkanaa gatamanee
achitti hin jigan;
bara isaan adabamanu
ani badii isaanitti hin fida» jedha.

13 Ammalle Mootiin Waan Maraa,
«Ani raagota Samaariya'aa oddu'utti
waan nama jibbisiisu dhaggeera;
isaan maqaa Ba'aaliitiin raaga dubbataa
kolbaa tiyya Israa'el dokonkorsan.

14 Raagota Yersaalemii odduulle'etti
waan nama shuguggeessu dhaggeera;
isaan hin gaarayyeffatan;
dharaan ideeman.

Nami tokkolle hammeenna irraa akka hin deebine
worra hantuu huju jajjabeessan.

Marti isaaniituu na duratti akka qachaa Sodoomii,
kolbaan Yersaalem keessa leetu,
akka qachaa Gomora'aa battowaneeran» jedha.

15 Tanaaf Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade marroo raagota
Yersaalemii:

«Raagoti Yersaalemii Waaqa malee le'iisa
biyya duudii irra waan babadhisaneef,
sagalee hadhoottuu isaan hin nyaachisa;
bisaan hadhaa qabu isaan hin obaasa» jedha.

16 Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade:

«Waan raagoti isiniif raaganu hin dhage'ina'a;
isaan addii sobaatiin isin guutan.
Waan yaada isaaniititti mudhate dubbatan malee
waan ani dubbadhee moti.

17 Isaan worra na tuffatuun,
«Mootiin Waan Maraa: Nageyaan hin leetan jedha;
worra mataa jabeenna ifii hordofuun ammoo:
Wonni hantuun isinitti hin dhuttu jedha» jedhan» jedha.

18 Isaan keessaa jecha isaa dhaggiisaaf yookiin dhage'iisaaf
ka marii Mootii Waan Maraa keessa dhaabbate eennu?
Jecha isaa caqasee eentu dhage'e?

19 Kunoo mufiin Mootii Waan Maraa
ta akka bubbee bokkeyaa hin kaati;
hobonbolattiin mataa worra hamoole'ee irratti hin buuti.

20 Mootiin Waan Maraa fedhii ifii adoo hin muummessin
mufiin isaa duubatti hin deebitu;
bara dhufu'uu jiru keessatti akka dansaa hin hubattan.

21 Mootiin Waan Maraa, «Ani raagota tana hin ergine; te'uu malee isaan
ifumaaf ergaa ifii fudhatanee fiigane; ani isaanitti hin dubbanne, te'uu
malee isaan raaga dubbatane.

22 Isaan adoo marii tiyya keessa dhaabbatanee jiraatanee, silaa jecha kiiyya
kolbaa tiyyaaf lallabane, karaa hamaa isaanii irraa, hujii hantuu isaanii
irralle'ee isaan deebisaneeraniyyuu.

23 Ani Waaqa dhikoo callaa jiruu ree? Ani Waaqa fagoolle jiruu motii ree?

24 Akka ani isa hin dhaggine, addee dhokaataatitti nami dhokatuu dande'uu
jiraa ree? Lafaa fi ol-gubbaa ka guute anaa motii ree?

²⁵ Ani raagota maqaa kiyyaan, «Ani oojjuu oojjadhe! Ani oojjuu oojjadhe!» jedhaa raaga sobaa raaganu dhage'eera.

²⁶ Wonni kun haga yoomii gadhaa raagota dharaa worra yaada ifii keessaa fuudhanee raaga dharaa raaganu keessa jiraatti?

²⁷ Akkuma abbootiin isaanii ta durii Ba'aal waaqonfatiisaan maqaa kiyya dedhane, oojjuu isaan wolitti himanuun, kolbaan tiyya maqaa kiyya akka deetu waan godhane isaanitti fakkaatti.

²⁸ Raagichi oojjuu oojjate, oojjuma ifii san himuu ti; ka ani jecha kiyya itti dubbadhe ammoo addatamumma'aan isuma dubbatuu ti. Hicaace'ee fi midhaan tokkummaa maan qaban?

²⁹ Jechi kiyya akka ibiddaati motii ree? Akka burrisa rassaa butuchuutii motii ree?

³⁰ Tanaaf ani raagota jecha wol irraa dhage'aa, akka na irraa dhage'aneetitti dubbatanu,

³¹ raagota ifumaaf dubbataa, «Mootii Waan Maraatitti dubbatte» jedhan-ulle hin morma;

³² kunoo ani raagota oojjuu dharaatiin raaganu hin morma; ani adoo isaan hin ergin yookiin isaan hin ajajin dharaan kolbaa tiyya dokonkorsan; isaan kolbaa tanaaf woy hin bayanu» jedha.

Raaga Raagota Dharaa

³³ Mootiin Waan Maraa anaan, «Kolbaan tun yookiin raagichi tokko yookiin hayyichi tokko, «Ergaan Mootiin Waan Maraa maan?» jedhanee yennaa si gaafatane, ati isaanii, «Mootiin Waan Maraa: Ba'aan ulfaattuun isin; ani ifi irraa fuudhee isin hin gata jedha» jedhiin.

³⁴ Raagichi tokko yookiin hayyichi tokko yookiin eennulle, «Tun ergaa Mootii Waan Maraa ti» yoo jedhe, ani nama sanii fi maatii isaa hin adaba» jedhe.

³⁵ Ermiyaas kolba'aan, «Tokko tokkoon keessan, «Mootiin Waan Maraa deebii maan kenne?» Yookiin, «Mootiin Waan Maraa maan dubbate» jedhee jaala ifii yookiin fira ifii gaafatuu ti malee,

³⁶ «Tun ergaa Mootii Waan Maraa ti» jedhee hin dubbatin. Sababille isin jecha Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadee, ka Waaqa jiraataa keennaa waan micciirtanuuf, ka isin dubbattanu erguma teessan.

³⁷ Tanaaf isin, «Mootiin Waan Maraa deebii maan isiniif kenne» yookiin, «Mootiin Waan Maraa maan dubbate?» jedha'aatii raagota gaafadha'a.

³⁸ Isin, «Ergaan tun ta mootii Waan Maraa ti» jettanulle, Mootiin Waan Maraa, «Ani Ergaan tun ta Mootii Waan Maraa ti akka isin hin jenne adoo isinitti himuu, isin: Ergaan tun ta Mootii Waan Maraa ti jettane.

³⁹ Tanaaf, ani dhugumaan isinille, qachaa isinii fi abbootii teessan ta duriitiif kennelle hin dedha; fuula kiyya duraa isin hin gata.

⁴⁰ Salphinnaa fi qaani baraa baraa ta ijjumaa hin dedhanne isinitti hin fida» jedha» jedhe.

24

Kollonjoo Lama Ta Midhaan Harru'uu Qaddu

¹ Mootiin biyya Baabilonii Nebukadnezaar, mootii Yihuda'aa Yekoniya ilma Yehoyaaqiimii, gondaaltota Yihuda'aa, worra hujii harkaa hujuu fi worra sibiila tumu Yerusaalem keessaa booji'ee gara biyya Baabilonii geesseen duuba, Mootiin Waan Maraa kollonjoo lama ta midhaan harru'uu qaddu, ta Galma Mootii Waan Maraa dura keyane natti mudhise.

² Kollonjoon takkaan midhaan muka harru'uu dansaa ka dursee bilchaate fakkaatu qaddi; ta lammeesso'oo ammoo midhaan muka harru'uu hamaa ka nami nyaatuu hin dandeenne qaddi.

³ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa anaan, «Ee, Ermiyaas, maan dhaggiisatti jirta?» jedhe; anille deebisee, «Midhaan muka harru'uu dhaggiisatti jira; midhaan sun dansaan guddoo dansa'a; hamaan ammoo akka malee hamaa ka nami nyaatuu hin dandeenne» jedheen.

⁴ Achiin duuba jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

⁵ «Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, «Worra biyya Yihuda'aa keessaa booji'amee gara biyya Baabilonii akka dhaqanu godhe kana akkuma midhaan muka harru'uu dansaa kanaa isaan hin ilaala.

⁶ Ani akka isaan hin miidhanne isaan eegee gara lafa tanaa akka isaan deebi'anuu hin godha; ani isaan hin ijaara malee hin diigu; hin dhaaba malee hin buqqisu;

⁷ ani qalbii isaan ittiin ani Mootii Waan Maraa akka te'e beekanu isaaniif hin kenna; gadhaa tokkochaan gara kiyya waan deebi'anuu, isaan kolbaa tiyya hin te'an; anille Waaqa isaaniif hin te'a.

⁸ «Mootii Yihuda'aa Zedeqiiyaa, qondaaltota isaa, worra lubbu'uun hafee Yersaaleem keessa yookiin biyya Gibxi'ii keessa le'u akkuma midhaan muka harru'uu hamaa ka nami nyaatuu hin dandeenne san hin godha.

⁹ Ani mootummoota biyya lafa maraa duratti waan hantuu nami dhaggee bararaqu isaan hin godha; addee ani itti isaan bittinneesse maratti akka namooti itti mammaakanu, akka isaanitti murganuu fi akka isaan abaaranu hin godha.

¹⁰ Lafa ani isaaniif fi abbootii isaaniitii kenne keessaa haga isaan badanutti shallaagaa, beelaa fi balaa isaanitti hin erga» jedha» jedhe.

25

Booji'amiisa Woggaa Torbaatamaa

¹ Ilmi Yosiyaaasii Yehuyaaqiim biyya Yihuda'aa irratti mootii te'ee, woggaa arfeesso'ootitti, mootiin Baabilonii Nebukadnezaar mootii te'ee woggaa tokkeesso'ootitti marroo kolbaa Yihuda'aa maraaf jechi Mootii Waan Maraa gara Ermiyaasii dhufe.

² Maarre raagichi Ermiyaas kolbaa Yihuda'aa maraa fi worra Yersaaleem keessa le'u maratti dubbatee,

³ «Ilmi Amoonii Yosiyaaas motii Yihuda'aa te'ee woggaa kudhanii sadeesso'ootii jalqabee, haga guyyaa adhaa woggaa diddamii sad jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee, anille itti deddeebi'ee isinitti hime; isin ammoo hin dhageenne.

⁴ Mootiin Waan Maraa tajaajiltoota ifii raagota mara itti deddeebi'ee gara keessan erge; isin hin caqanne yookiin hin dhageenne.

⁵ Isaan, «Tokko tokkoon keessan, karaa hama'aa fi hujii hantuu teessan irraa amma deebi'a'a; lafa Mootiin Waan Maraa bara baraa haga bara baraa isinii fi abbootii teessaniif kenne keessa le'a'a.

⁶ Waaqota dhibii waaqonfatiisaaf, isaan tajaajiliisaafille hin hordofina'a; akka inni isin hin adanne hujii harka keessaniitiin Mootii Waan Maraa hin aarsina'a» isiniin jedhane.

⁷ Mootiin Waan Maraa, «Isin ammoo na hin caqanne; hujii harka keessaniitiin na aarsitanee miidha ifi irratti fiddane» jedha.

⁸ «Tanaaf Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Isin jecha kiyyaaf waan hin ajajaminiif,

⁹ kunoo ani kolbaa gara kaabaa mara fi tajaajilaa kiyya mootii Baabilonii Nebukadnezaar waamee lafa tanaa fi kolbaa isii keessa leetu, gosa biyya adda addaa ta adaala isi'ii jirtu mara akka lolanuuf hin fida; ani ijjumaa isaan hin balleessa; waan hantuu nami dhaggee bararaqu, waan nami itti murguu fi haga bara baraa ona isaan hin godha.

¹⁰ Ani qoonqoo gammadaatii fi ililleetti'ii, qoonqoo waajibichaatii fi waa-jibitti'ii, qoonqoo daaku'uutii fi ifa issa'aa odduu isaaniitii hin balleessa.

¹¹ Latti tun duudiin goomolee duwwaa teetee, gosi biyya adda addaa tunille woggaa torbaatama mootii Baabilonii hin tajaajilan.

¹² Woggaan torbaatam muummotteen duuba mootii Baabiloniitii fi kolbaa isaa, lafa worra Baabiloniille sababa yakkaa isaaniitiif adabee lafa isaanii haga bara baraa ona hin godha.

¹³ Ani waan biyya san irratti fidiisaaf dubbadhe mara, waan kitaaba kana keessatti barreeffame, ka Ermiyaas gosa biyya adda addaa mara irratti raaga dubbate lafa san irratti hin fida.

¹⁴ Isaan gosa biyya addaa heddu'uuf, mootota gugurdo'oofille garba hin te'an; ani akka hujii isaaniititti isaan hin adaba jedha» jedhe.

Gosa Biyya Adda Addaa Irratti Muraa Waaqaa

¹⁵ Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii anaan, «Muduunuu daadhii woyni'ii ta aarii tiyyaan guutante harka kiyya irraa fuudhiitii, gosa biyya adda addaa ta ani si itti ergu kana obaas.

¹⁶ Isaan yennaa muduunuu tana keessaa unane hin machowan; ani shallaagaa odduu isaaniititti waan erguuf, isaan hin maraatan» jedhe.

¹⁷ Maarre ani muduunuu harka Mootii Waan Maraa irraa fuudhee, gosa biyya adda addaa ta inni na itti erge san mara obaase.

¹⁸ Yersaaleemii fi qachooti Yihuda'aa, moototii fi qondaaltoti isi'ii akkuma isaan amma jiranu, akka isaan goomolee duwwaa te'anu, akka isaan waan hantuu nami dhaggee bararaqu te'anu, waan nami itti murguu fi waan abaarame akka te'anu,

¹⁹ mootii Gibxi'ii Fara'oon, tajaajiltoota isaa, qondaaltota isaatii fi kolbaa isaa mara,

²⁰ kolbaa ormaa ta achi jirtu mara, mootota biyya Uzii mara, mootota biyya Filisxeemotaa mara mootii Ashiqalonii, mootii Gaaza'aa, mootii Eqrooniitii fi worra Ashidood keessatti hafe mara,

²¹ worra Edoonii, worra Mo'aabii, worra Amoonii,

²² mootota Xiirsoosiitii fi Sidoonii mara, mootota lafa qarqara abbaaya'aan gamaa keessa jiranu mara,

²³ worra Dedaanii, worra Tema'aatii fi worra Buzii, worra rifeensa mataa ifii cinaa quxatu mara,

²⁴ mootota Arabaa mara, mootota kolbaa ormaa ta goomolee keessa leetu mara,

²⁵ mootota Ziimrii mara, mootota Elaamiitii fi mootota Medoonii mara,

²⁶ mootota biyya kaabaa ta fago'oo fi dhikoo jiranu mara, woluma gula, mootummoota biyya lafaa mara muduunuu tana keessaa obaase; isaan kana maraan duuba mootiin Sheshaakiille*hin una.

²⁷ Achiin duuba, Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade Waaqi Israa'el anaan, «Ati isaaniin, «Ani shallaagaa odduu teessanitti waan erguuf, una'a; machowa'aatii diddiga'a; hagaraa achi akka hin kaane jiga'a» jedhi.

²⁸ Isaan muduunuu harka keeti irraa fuudhanee uniisa yoo didane ammoo, Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Muduunuu tana irraa una'a.

* 25:26 Sheshaak: Maqaa Baabilonii ka dhibi'i.

²⁹ Ani kunoo, qachaa maqaan kiyya itti waamamutti balaa fidiisa hin jalqaba; isin adabbii jalaa hin baatanii ree? Ani worra lafa irra le'u mara irratti shallaagaa waan fiduuf, isin adabbii jalaa hin baatanu» jedhiin» jedhe.

³⁰ Tanaaf Mootiin Waan Maraa ammalle, anaan, «Ee Ermiyaas, dubbii tana mara kolbaa tana irratti raagiitii,

« Mootiin Waan Maraa ol-gubbaa irraa hin iyya;
addee woyyittii ifitii dhangaa dhowa.

Lafa ifii irratti guddisee dhangaa dhowa;

akka worra woynii cunfuu
qoonqoo guddoo hin dhageessisa;
worra lafa irra le'u maratti hin iyya.

³¹ Mootiin Waan Maraa
gosa biyya adda addaatitti waan mormuuf,
qoonqoon isaa guddoon
haga qaccee lafaatitti hin dhage'anti.

Inni kolbaa mara irratti hin mura
worra hamoolee shallaaga'aaf,
dabarsee hin kenna» jedhi» jedhe.

³² Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade,
«Kunoo badiin biyya takka irraa
gara biyya takkaatitti babadhatiisatti jirti;
bubbeen bokkeyaa jadduun
qaccee lafaa irraa ka'iisatti jirti» jedha.

³³ Guyyaa san reeffi worra Mootiin Waan Maraa ijjeesee, qaccee lafaatii
haga qaccee lafaa taanitti, addee maratti hin dhaggama. Reeffi isaanii lafa
irratti akka cego'oo te'a malee, nami isaaniif bowu yookiin nami isaan wolitti
qabee awwaalu hin jiru.

³⁴ Isin tissitooti wiiccifadha'aatii bowa'a;
isin soressitooti kolba'aa
daadhaa keessa gangaladha'a.

Guyyaan isin qalantanu waan dhufee,
akka okkotee faaraa dansitti'ii jiga'aatii bututa'a.

³⁵ Tissitooti addee itti baqatanu hin qabanu;
soressitooti addee itti miliqanu hin qabanu.

³⁶ Mootiin Waan Maraa
addee tika isaanii waan balleessaaruuf,
iyya tissitootaatii fi wiiccifata soressitootaa dhage'a'a.

³⁷ Sababa aarii jadduu Mootii Waan Maraa
addeen isaanii nageellittiin hin baddi.

³⁸ Inni akka neenqaa mandhee ifii keessaa hin baya;
sababa cunqursa'aatii fi aarii jadduu Mootii Waan Maraatiif,
latti hin onti.

26

Raaga Ermiyaas Galma Waaqaa Keessatti Raage

¹ Jalqaba bara ilmi Yosiyaasii Yehoyaaqiim Yihudaa irratti mootii te'etti,
jechi kun Mootii Waan Maraa biraa dhufee,

² anaan, «Badhinna Galma Mootii Waan Maraa duraa keessa dhaabbadhuu-
tii, qachaa Yihuda'aa keessaa kolbaa Waaqonfatiisaaf gara Galma Mootii
Waan Maraa dhuttu maratti waan ani si ajaju mara takkattiille adoo hin
hamburin himi; jecha tokkolle keessaa hin hamburin.

³ Isaan jecha kana caqasanees karaa ifii hamaa irraa adoo deebi'anees, ani sababa hammeenna hujii isaaniitiif badii isaanitti fidiisaaf yaade hin lakkisa.

⁴ «Ati isaaniin, «Mootiin Waan Maraa: Yoo isin na caqasuu diddanees, seera ani isiniif kennelle eegatiisa yoo dhaddane,

⁵ jecha tajaajiltoota tiyya raagotaa, ka ani akka caqattanuu gara keessan itti deddeebi'ee erge yoo hin caqasin,

⁶ akkuma Shiiloo godhe Galma kanalle hin godha; qachaa kanalle gosa biyya adda addaa oddu'utti ka abaarame hin godha jedha» jedhiin» jedhe.

⁷ Ermiyaas jechoota kana Galma Waaqaa keessatti yennaa dubattu, hayyooti, raagotii fi kolbaan marti dhage'ane.

⁸ Ermiyaas waan Mootiin Waan Maraa akka inni kolba'atti himuuf ajaje mara dubbatee yennaa fixe hayyooti, raagotii fi kolbaan marti isa qabanees, «Ati du'uu qadda!

⁹ Ati, «Manni kun akka Shiilo'oo hin te'a; qachaan kunille onee, ka nami keessa hin jirre hin te'a» jettee maqaa Mootii Waan Maraatiin raaga maaf dubbatta?» jedhanees kolbaan marti Galma Waaqaa keessatti itti dacha'anees Ermiyaas marsane.

¹⁰ Qondaaltoti Yihuda'aa waan kana yennaa dhageette, mana mootummaa'aa keessaa gara Galma Waaqaa ol bayanees, seensuma balbala dalleya haareyaa, ka Galma Mootii Waan Maraa dura tee'ane.

¹¹ Achiin duuba hayyootii fi raagoti, qondaaltotaa fi kolbaa maraan, «Akkuma isin gurra keessaniin dhageettane nami kun qachaa kana irratti raaga waan dubbateef iijeefamuu qaba» jedhane.

¹² Achiin duuba Ermiyaas qondaaltota maraa fi kolbaa maraan, «Waan isin dhageettane kana mara Galma Mootii Waan Maraatiin fi qachaa kana irratti raaga akka dubbadhuuf ka na erge Mootii Waan Maraa ti.

¹³ Tanaaf isin amma karaa keessanii fi hujii teessan sirreeffadha'aatii, Mootii Waan Maraa Waaqa keessaniif ajajama'a; innille badii isin irratti fidiisaaf yaade san hin lakkisa.

¹⁴ Ani ammoo kunoo, harka keessan keessa jira; waanuma dansa'aa fi sirrii te'ee isinitti mudhate na irratti muummessa'a.

¹⁵ Te'uu malee, akka ani jecha kana mara gurra keessanitti himuuf, dhugumaan Mootiin Waan Maraa waan na ergeef, isin yoo na ijeettane dhiiga nama yakkaa hin qannee dhangalaasiisaan, isin ifii fi qachaa kana irratti, kolbaa qachaa kana keessa leetu mara irralle'etti yakkaa akka fiddanu beeka'a» jedhe.

¹⁶ Achiin duuba qondaaltotii fi kolbaan marti, hayyootaa fi raagotaan, «Nami kun maqaa Mootii Waan Maraa Waaqa keennaatiin waan nutti dubbateef iijeefamuu hin qabu» jedhane.

¹⁷ Jaarsolee lafa sanii keessaa gariin ol ka'anees kolbaa achitti wolitti qabante maraan,

¹⁸ «Nami qachaa Mooresheetii Miikiyaas, bara Hisqiyaas mootii Yihuda'aa te'eerutti, raagee kolbaa Yihuda'aa maraan, «Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade:

«Xiyoona akka ficha'aa hin qotanti

Yerusaalem tuulaa bututaa hin teeti;

kooba Galma Waaqaa daggalli itti hin lata jedha» jedhe.

¹⁹ «Mootiin Yihuda'aa Hisqiyaasii fi kolbaan yihuda'aa marti Miikiyaas akka iijeefamuu godhanees ree? Hisqiyaas Mootii Waan Maraa sodaatee araara isa hin kadhanees ree? Mootiin Waan Maraa badii isaan irratti fidiisaaf yaade

san hin lakkinnee ree? Nuuti ammoo badii guddoo ifi irratti fidiisatti jirra» jedhane.

²⁰ Bara san keessa nami dhibiin ilmi Shemaa'iyaa Uriiyaan nami biyya Kiriiyat-Ya'ariimiille akkuma Ermiyaasii qacha'aa fi lafa tana irratti maqaa Mootii Waan Maraatiin raaga dubbateera.

²¹ Mootichi Yehoyaaqiim loltootaa fi qondaaltota ifi mara waliin jecha kana yennaa dhage'e mooticha Uriiyaan ijjeesiisaaf yaade; Uriiyaan ammoo waan kana yennaa dhage'e sodaatee gara biyya Gibxi'ii baqate.

²² Te'uu malee mootichi Yehoyaaqiim dhaqanee Uriiyaa akka fidanuuf ilma Akborii Elnaataanii fi namoota dhibii gara biyya Gibxi'ii erge.

²³ Isaanille Uriiyaa biyya Gibxi'iitii gara mooticha Yehoyaaqiimii fidanee dhufane; mootichille shallaaga'aan isa ijjeesee reeffa isaa addee awwaala kolba'aatitti gatane.

²⁴ Ilmi Shaafaanii Ahiiqaam Ermiyaas waan qarqaareef, Ermiyaas akka ijjeefamuuf harka kolba'aatitti dabarfamee hin kennanne.

27

Waanjoo Ermiyaas Ba'ate

¹ Jalqaba bara ilmi Yosiyasii Zedeqiyaan mootii Yihuda'aa te'etti, jechi kun Mootii Waan Maraa biraa gara Ermiyaasii dhufee,

² «Waanjoo hujjitiin hudhaa isaatiin morma keetitti hidhadhu.

³ Karaa ergantoota worra gara Zedeqiyaan mootii Yihuda'aa ergamanee Yerusaalem dhufaneetiin gara mootota Edoomii, Mo'aabii, Amoonotaa, Xiroosiitii fi Sidoonii dhaansa ergi.

⁴ Dhaansa kana goottolee ifiititti akka himanu ajaji; Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade Waaqi Israa'elii

⁵ goottolee teessaniin, «Ani hunna tiyya guddo'oo fi irree tiyya jaddu'uun lafa, kolba'aa fi bineensota lafa irra jiranu mara dadeera; ani nama isaaf kenniisa barbaadeef isii hin keenaa.

⁶ Ani amma biyya tana mara harka tajaajilaa kiyya Nebukadnezaarii mootii Baabiloniititti dabarsee hin kenna; bineensotille akka isa tajaajilanuuf isaaf kenna.

⁷ Haga guyyaan biyyi isaa qabatantu dhufutti, gosi biyya adda addaa marti isa, ilma isaatii fi ilma ilma isaa hin tajaajilan; achiin duuba gosi biyya adda addaatiin fi moototi hunnaameyyiin garba ifii isa hin godhatan.

⁸ «*«Kolbaa yookiin mootummaa Nebukadnezaarii mootii Yihuda'aa hin tajaajille yookiin waanjoo isaa jalatti morma ifii gad qabatee, waanjoo mootii Baabilonii hin ba'anne ammoo ani haga kolbaa san harka mootii Baabiloniitiin ijumaa balleessutti shallaaga'aan, beelaa fi bala'aan isaan hin adaba jedha» jedha'aatii hima'a.*

⁹ Tanaaf, isin raagota keessanii fi mortoota teessan, worra ojjuu hiiku, worra ekeraa dubbisu, worra xanoo xanu ka «Mootii Baabilonii hin tajaajilatanu» jedhanu hin caqasina'a.

¹⁰ Isaan akka lafa teessan keessaa baatanu, akka ani isin balleesseeruun baddanu, raaga dharaa isiniif raagan.

¹¹ Mootiin Waan Maraa, «Kolbaa morma ifii gad qabatee waanjoo mootii Baabilonii ba'atee isa tajaajiltu ammoo lafa ifii keessa teettee akka qotattu hin lakkisa» jedha» jedhe.

¹² Anille erguma tana mootii Yihuda'aa Zedeqiya'atti himee, «Mootiin Waan Maraa, «Morma keessan gad qabadha'aatii waanjoo mootii Baabilonii

ba'adha'a. Isa fi kolbaa isaa tajaajila'a. Tana yoo gootane jiru'uun hin jiraattan» jedha.

¹³ Atii fi kolbaan teeti shallaagaa, beelaa fi balaa Mootiin Waan Maraa kolbaa mootii Baabilonii hin tajaajilletti fidiisaaf dubbate saniin maaf dhummattan ree?

¹⁴ Jecha raagoti, «Mootii Baabilonii hin tajaajiltanu» jedhaa raaga dharaa dubbattu hin caqasina'a.

¹⁵ Mootiin Waan Maraa «Ani isaan hin ergine; isaan maqaa kiyyaan raaga dharaa raagan. Tanaaf, ani isinii fi raagota raaga dharaa isiniif raaganu hin balleessa; isin lamaanuu hin baddan» jedha» jedhe.

¹⁶ Achiin duuba ani hayyootaa fi kolbaa tana maraan, «Mootiin Waan Maraa, «Raagota: mey Galma Mootii Waan Maraa Baabilon keessaa ariiti'iin hin deebi'a jedhaa raaga dharaa raaganu hin caqasina'a» jedha.

¹⁷ Isaan hin caqasina'a. Jiru'uun jiraattanu motii Baabilonii tajaajila'a. Qachaan kun maaf diigama ree?

¹⁸ Isaan raagota yoo te'ane, jechi Mootii Waan Maraalle isaan keessa yoo jiraate, mey Galma Mootii Waan Maraa keessatti, mana mootummaa Yihuda'aa keessatti, Yerusaalem keessalle'etti hafe, gara Baabilonii booji'amee akka hin fudhatanne Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dade kadhatanuu ti» jedhee hime.

¹⁹ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, Waaqi Israa'elii, marroo utuboota lama ka Galma Waaqaa duraa, marroo waabaa bisaanii, marroo waan meya irra keyanu ka korboo qabuutii fi marroo meya dhibii qachaa kana keessatti hafee,

²⁰ ka mootiin Baabilonii Nebukadnezaar yennaa ilma Yehoyaaqiimii Yekoniya mootii Yihuda'aa, qondaaltota Yihuda'aatii fi Yerusaaleemii booji'ee gara Baabilonii geessaa achitti hamburee,

²¹ marroo meya Galma Waaqaa keessatti, mana mootummaa Yihuda'aa keessatti, Yerusaalem keessalle'etti hafeetiif,

²² «Mey kun gara Baabilonii hin fudhatan; haga guyyaa ani isaaniif yaadadhee achii isaan deebisee gara mana mootummaa'aa kana isaan fidu dhufutti achuma hin turan» jedha.

28

Ermiyaasii Fi Hanaaniyaa Raagicha

¹ Jalqaba bara Zedeqiyaan mootii Yihuda'aa te'e, woggaa arfeesso'oo wogguma san, ji'a shaneesso'ootitti, ilmi Azurii Hanaaniyaan raagichi nami qachaa Giibe'onii Galma Waaqaa keessatti hayyootaa fi kolbaa mara duratti Ermiyaasiin,

² «Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, Waaqi Israa'elii, «Waanjoo mootii Baabilonii hin cassa;

³ Meya Galma Mootii Waan Maraa ka mootiin Baabilonii Nebukadnezaar, addee tanaa gara Baabilonii geesse mara, woggaa lama keessatti deebisee gara addee tanaa hin fida.

⁴ Ani Waanjoo mootii Baabilonii waan cassuuf, mootii Yihuda'aa ilma Yehoyaaqiimii Yekoniya'aa fi worra isa woliin booji'amee gara Baabilonii dhage maralle gara addee tanaa deebisee hin fida» jedha» jedhe.

⁵ Achiin duuba ani raagichi Ermiyaas hayyootaa fi kolbaa Galma Mootii Waan Maraa keessa dhaabbataneeranu mara duratti Hanaaniya'aan,

⁶ «Ameen! Mootiin Waan Maraa akkuma ati jette godhuu ti; meya Galma Mootii Waan Maraatii fi worra booji'ame mara Baabilon keessaa gara addee

tanaa deebisiisaan Mootiin Waan Maraa raaga ati dubbatte kana muummessuu ti!

⁷ Te'uu malee, waan ani si'itti, kolbaa tanalle'etti dubbadhu caqasi.

⁸ Raagoti durii worri anaa fi si'iin duraa biyya heddu'uu fi mootummoota gugurdoo irratti lolli, badi'ii fi balaan akka dhufu raaganeeran.

⁹ Ammoo raagichi tokko marroo nageyaa raagee, raagi isaa sun yoo muummowe, Mootiin Waan Maraa dhugumaan akka isa erge hin beekkama» jedhe.

¹⁰ Achiin duuba Hanaaniyaan raagichi waanjoo morma ana raagicha Ermiyaas irraa fuudhee cassee

¹¹ kolbaa mara duratti, «Mootiin Waan Maraa, «Woggaa lama keessatti waanjoo Nebukadnezaarii mootii Baabilonii morma gosa biyya adda addaa mara irraa akkuma kana hin cassa» jedha» jedhe; achiin duuba ani raagichi Ermiyaas karaa kiyya deeme.

Ermiyaas Ammalle Hanaaniyaa Mormee Raaga Dubbate

¹² Hanaaniyaan raagichi waanjoo san morma Ermiyaasii irraa fuudhee eega casse yennaa diqqo'oon duuba jechi Mootii Waan Maraa gara Ermiyaasii dhufee,

¹³ «Dhaqii Hanaaniya'aan, Mootiin Waan Maraa, «Ati waanjoo mukaa cassiteerta; addee waanjoo saniititti waanjoo sibiilaa hujjee bakka hin buutta jedha» jedhiin» jedhe.

¹⁴ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade Waaqi Israa'elii, «Mootii Baabilonii Nebukadnezaar akka tajaajilanuuf morma gosa biyya adda addaa tana maraa irra waanjoo sibiilaa hin keya; isaanille isa hin tajaajilan; akka inni bineensotalle bulchu hin godha» jedha.

¹⁵ Achiin duuba raagichi Ermiyaas, Hanaaniyaa raagichaan, «Hanaaniya'a, caqasi! Ati Mootiin Waan Maraa adoo si hin ergin kolbaan tun dharatti akka addattu gooteerta;

¹⁶ tanaaf, Mootiin Waan Maraa, «Ani lafa irraa si hin balleessa; ati kolbaan tun ana Mootii Waan Maraa irratti akka kaatu waan gooteef, wogguma tana hin duuta» jedha» jedhe.

¹⁷ Hanaaniyaan raagichille baruma san ji'a torbeesso'ootitti du'e.

29

Ermiyaas Gara Worra Booji'amee Baabilon Keessa Jiruu Xalayaa barreesse

¹ Ermiyaasiin raagichi Yersaalem irraa gara jaarsolee lubbu'uun hafanee worra booji'ame odduu jiranuu, hayyootaaf, raagotaa fi kolbaa Nebukadnezaar Yersaalem keessaa gara Baabilonii booji'ee geesse maraaf, xalayaan erge ka asii gad jiru;

² inni xalayaa kana mootichi Yekoniya'aa fi giittiin haati isaa, gondaaltoti mana mootummaa isaa, bulchitooti Yihuda'aatii fi Yersaalemii, worri hujii harkaa hujuu fi worri sibiila tumu Yersaalem keessaa booji'amanee fudhatamaneen duuba barreesse.

³ Xalayaa kanalle worra mootii Yihuda'aa Zedeqiiyaa biraa gara mootii Baabilonii Nebukadnezaarii ergamane, harka El'aasaa ilma Shaafaaniitii fi harka Gemaariyaa ilma Hilqiiya'aatitti erge; xalayaan sun,

⁴ «Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade Waaqi Israa'elii, worra Yersaalem keessaa gara Baabilonii akka booji'amanu godheen,

⁵ «Mana ijaaradha'aatii keessa tee'a'a; ficha'atti woy dhaabadha'aatii midhaan irraa dhaggatane nyaadha'a;

⁶ Niitii fuudha'aatii ilmaa fi intala uumadha'a; ilmaan teessan fuusi-fadha'aatii durra teessanille heerumsiifadha'a; isaan ijoollee horanuu ti; laakkossi isaanii bacatuutii malee hin diqqaa'in.

⁷ Qachaa ani akka isin booji'antanee itti geeffantanu godheefille, nageyaa fi qananummaa halcha'aaf; qachaa saniif gara Mootiin Waan Maraa daadi-madha'a; sababille qachaan sun yoo nageya qabaate, isinille nageya hin qabaattan» jedhee dubbateera» ka jedhu.

⁸ Ee, Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, Waaqa Israa'elii, «Raagotii fi worri moru ka odduu teessan jiranu isin hin sobin; oojjuu isaan isiniif oojjatanulle hin caqasina'a.

⁹ Isaan maqaa kiyyaan raaga dharaa raagan malee ani isaan hin ergine» jedha.

¹⁰ Mootiin Waan Maraa, «Woggaan torbaatam isin Baabylon keessa turtanu yennaa hobbaate ani isin hin ilaala; gara addee tanaa isin deebisiisaaf, waadaa kiyya dansaa isiniif gale san hin muummessa.

¹¹ Ani Yaada isiniif qabu hin beeka; yaad kunille yaada nageyaa, ka addii gara duraa isiniif kennu malee, ka isin miidhuu moti.

¹² Isinille gara kiyya dhuttanee maqaa kiyya waammattaa gara kiyya hin daadimattan; anille isiniif hin dhage'a.

¹³ Isin na hin barbaaddan; gadhaa tokkochaan yoo na barbaaddane na hin dhaggitan.

¹⁴ Anille akka isin na dhaggitanu hin godha; boojuu keessalle'ee isin hin deebisa; gosa biyya adda addaatii fi addee isin itti bittinneesse mara keessaa wolitti isin qabee gara lafa akka isin keessaa booji'antanu godhetti isin hin deebisa» jedha.

¹⁵ Isinille, «Biyya Baabylonii keessatti Mootiin Waan Maraa raagota nu'uuf kaaseera» hin jettan.

¹⁶ Mootiin Waan Maraa ammoo marroo mooticha barcumaa mootummaa Daawitii irra tee'eeruutii fi marroo kolbaa isin waliin adoo hin booji'amin hafanee qachaa kana keessa jiranuu,

¹⁷ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Ani shallaagaa, beelaa fi balaa isaanitti ergee, akka midhaan muka harru'uu hamaa ka nami nyaatuu hin dandeennee isaan hin godha.

¹⁸ Ani shallaaga'aan, beelaa fi bala'aan isaan hin ari'a; mootummoota biyya lafaa mara duratti waan hantuu nami dhaggee bararaqu isaan hin godha; gosa biyya adda addaa oddu'utti addee isaan itti bittinneesselle'etti akka abaaramanuu fi jibbamanu, akka isaanitti murganuu fi akka isaanitti cooranu hin godha.

¹⁹ Isaan jecha ani karaa tajaajiltoota tiyya raagotaatiin itti deddeebi'ee isaanitti ergee hin dhageenne; isin worri booji'antanelle jecha kiyya hin dhageenne.

²⁰ Tanaaf isin worri ani akka isin Yersaalem keessaa booji'antanee gara Baabylonii ergantanu godhe marti, jecha ani Mootiin Waan Maraa dubbadhu dhage'a!» jedha.

²¹ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, Waaqi Israa'elii, marroo Ahaabii ilma Kolaaya'aatii fi Zedeqiyyaa ilma Ma'aseya'aa worra maqaa isaatiin raaga dharaa raaganuun, «Ani harka Nebukadnezaarii mootii Baabiloniititti dabarsee isaan hin kenna; innille iluma teessan duratti isaan hin ijjeesa.

²² Worri Yihudaa keessaa booji'amee Baabylon keessa jiru marti, «Akkuma mootiin Baabylonii Zedeqiyya'aa fi Ahaab ibiddaan gube, Mootiin Waan

Maraa si gubu» jedhaa wol abaaran.

²³ Isaan niitota namoota dhibi'ii gaarayyeffatanee dubbii ani isaan hin ajajin maqaa kiyyaan dhara dubbatanee, Israa'el keessatti waan nama qaanessu hujaneeran; ani tana waan beekuuf, dhugaa hin baya» jedha.

Xalayaa Gara Shemaa'iyaa'aa Ergame

²⁴ Shemaa'iyaa nama biyya Nehelaamiititti ergaa akka himu Mootiin Waan Maraa Ermiyaas ajajee,

²⁵ Shemaa'iyaan, «Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade Waaqi Israa'elii, «Ati kolbaa Yerusaa'el keessa jirtu maraaf, ilma Ma'aseya'aa hayyicha Sefaaniya'aaf, hayyoota dhibii maralle'eef, maqaa keetiin xalayaa ergitee, Sefaaniya'aan:

²⁶ Galma Waaqaa keessatti itti gaafatamaa akka teetuuf Mootiin Waan Maraa addee hayyicha Yoyaada'aa hayyicha si godheera; ati nama maraataa raaga dharaa raagu miila isaa jirma lama wodhakka'atti, morma isaa sibiila wodhakka'atti hidhuu qadda.

²⁷ Maarre ati amma Ermiyaasii nama biyya Anaatotii ka akka raagichaa dubbatu maaf hin xixin ree?

²⁸ Inni yennaa hedduu achi waan turtanuuf, mana ijaarannee keessa akka teennu; ficha'atti woy dhaabbannee midhaan irraa dhaganne akka nyaannu xalayaa kana gara biyya Baabilonii nutti ergeera» jetteerta» jedhe.

²⁹ Hayyichi Sefaaniyaan xalayaa san raagicha Ermiyaasiif dubbise.

³⁰ Achiin duuba jechi Mootii Waan Maraa gara Ermiyaasii dhufee,

³¹ «Ergaa tana gara worra booji'ameeru maraa ergiitii, «Mootiin Waan Maraa marroo Shemaa'iyaa nama biyya Nehelaamii: Ani adoo isa hin ergin Shemaa'iyaan raaga isiniif raagee waan dharaa akka isin dhugeeffattanu waan godheef,

³² ani dhugumaan Shemaa'iyaa nama biyya Nehelaamiitii fi sanyii isaa hin adaba; inni namooti na irratti akka ka'anuu waan godheef, odduu kolbaa tanaatitti nama isaaf hafu hin qabaatu; inni waan dansaa ani kolbaa tiyyaaf godhulle hin dhaggu jedha» jedhiin» jedhe.

30

Waadaa Waaqi Kolbaa Ifitiif Gale

¹ Jechi Mootii Waan Maraa ka gara Ermiyaasii dhufe ka asii gad jiru;

² Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, «Jecha ani si'itti dubbadhe mara kitaabatti barreessi.

³ Kunoo barri ani kolbaa tiyya Israa'elii fi Yihudaa boojuu keessaa deebisu dhufiisatti jira; ani gara lafa abbootii isaaniitiif kennetti isaan hin deebisa; latti sunille ta isaanii hin teeti» jedhe.

⁴ Mootiin Waan Maraa marroo Israa'eliitii fi Yihuda'aa dubbatee,

⁵ «Isin, «Nuuti iyya soda'aatii fi
bararaqiisaa dhageenneerra;
nageennille hin jiru» jettaneertan.

⁶ Me, gaafadha'aatii ilaala'a!
Dhiirti deyyu hin dandeettii?

Maaf dhiirti marti
akka dubartii ciniinsifattuu
harka ifitiin gadhaa ifii qabattee
fuulli nama maraa shankaloweeruun
dhagga ree?

⁷ Aanne'e! Guyyaan sun
guyyaa hama'a;

guyyaan akka isaa hin jiraatu.
Sanyii Yaaqoobiitiif guyyaa rakkinnaa ti;
isaan ammoo kanuma keessaa hin hafan» jedhe.

⁸ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Ani guyyaa san,
waanjoo morma isaanii irraa fuudhee hin cassa;
hidhaana isaanille hin kuta;
haganaa achi ormi garba isaan hin godhatu;
⁹ isaan ammoo ana Mootii Waan Maraa Waaqaa ifiitii fi
sanyii Daawitii keessaa mooticha ani isaanii kaasu
hin tajaajilan.

¹⁰ Maarre, ee tajaajilaa kiyaa Yaaqoob, hin sodaatin!
Ee kolbaa Israa'elii hin rifatina'a!
Ani dhugumaan biyya fago'oo irraa isin hin deebisa;
sanyii teessanille
lafa isaan itti booji'amane keessaa hin deebisa.
Yaaqoob deebi'ee bidhaa malee nageyaan hin le'a;
ka isa sodaachisulle hin jiru.

¹¹ Ani isin woliin jira;
isin hin gargaara;
gosa biyya adda addaa
ta odduu isaaniititti isin bittinneesse mara
ijjuma hin balleessa;
isin ammoo guutumatti hin balleessu;
te'uu malee adoo hin adabin isin hin lakkisu» jedhe.

¹² Mootiin Waan Maraa,
«Madaan teessan ta hin fayyine;
miidham keessanille ka hin fayyine.

¹³ Nami isiniif falmatu hin jiru;
madaa teessaniif qorsi hin jiru;
isin hin fayyitanu.

¹⁴ Jaaloti teessan marti isin dedhaneeran;
isaan haajaa keessan hin qabanu.

Yakkaan teessan guddoo
cubbuun teessanille bacaa waan teeteef,
ani akkuma diina dhowanu isin dhowee,
marartii maleelle isin adabe.

¹⁵ Isin madaa teessan ta hin fayyineef,
dhukkubbii madaa teessaniitiif maaf boottan?

Yakkaan teessan guddoo,
cubbuun teessanille bacaa waan teeteef,
ani waan kana mara isin irratti godheera.

¹⁶ Amma ammoo Worri isin balleessu marti hin bada;
diinoti keessan martinuu hin booji'aman;
worri isin saamu hin saamama;
worri isin dannabu marti hin dannabama.

¹⁷ Diinoti keessan isiniin, «Xiyyoon gatanteerti;
ka haajaa isi'ii qabu hin jiru» jedhanulle
ani ammoo fayya'atti isin hin deebisa;
madaa teessanille hin fayyisa.

¹⁸ «Kunoo, ani kolbaa tiyya
worra sanyii Yaaqoobii keessaa booji'ame hin deebisa;
addee isaan le'anutti isaaniif hin marara.

- Qachaan Yerusaalemii
 addee duriititti deebi'ee hin ijaarama;
 manni mootumma'aalle a
 ddee duriititti deebi'ee hin ijaarama.
- ¹⁹ Achi keessaa faaruun galataatii fi
 goonqoo firinxiixaa hin dhage'anti.
 Ani isaan hin baceessa malee,
 laakkossa isaanii hin diqqeessu;
 Ani ulfinna isaaniif hin kenna malee
 isaan hin salphatanu.
- ²⁰ Ijoolleen isaanii akkuma durii hin teeti;
 kolbaan isaanii fuula kiyya duratti
 jabaattee hin dhaabbatti;
 ani worra isaan cunqursu mara hin adaba.
- ²¹ Namuma isaaniititti isaan sooressa;
 ka isaan bulchulle odduma isaaniitii hin dhalata.
 Ani gara kiyya isa hin dhikeessa;
 innille natti hin dhikaata;
 yoo akkas hin te'in eentu gara kiyya dhikaatiisaaf gama?
- ²² Maarre isin kolbaa tiyya hin teetan;
 anille Waaqa keessan hin te'a» jedha.
- ²³ Kunoo mufiin Mootii Waan Maraa
 ta akka bubbee bokkeyaa hin kaati;
 hobonbolattiin mataa worra hamoole'ee irratti hin buuti.
- ²⁴ Mootiin Waan Maraa fedhii ifii adoo hin muummessin
 mufiin isaa duubatti hin deebitu;
 bara dhufu'uu jiru keessatti akka dansaa hin hubattan.

31

Kolbaan Israa'elii Gara Biyya Ifi Deebite

- ¹ Mootiin Waan Maraa «Bara san ani fira Israa'elii maraaf Waaqa hin te'a;
 isaanille kolbaa tiyya hin te'an.
- ² Kolbaan shallaagaa jalaa hatte, goomolee keessatti fudhatama hin dhag-
 gatti; ani foora Israa'elii kenniisaaf hin dhufa» jedha.
- ³ Mootiin Waan Maraa fagoo irraa natti mudhatee, «Ani Jaalala bara
 baraatiin si jaaladheera; tanaaf gadhi laafummaa tiyya sitti mudhiseera.
- ⁴ Ee kolbaa Israa'elii ani deebisee isin hin ijaara; isinille deebitanee hin
 ijaarantan; ammalle dibbee teessan qabattanee worra burraaqu woliin hin
 burraaxxan.
- ⁵ Ammalle isin gaara Samaariya'aa irratti muka woyni'ii hin dhaabbatan;
 worri isii dhaabe midhaan isi'ii hin nyaata.
- ⁶ Guyyaan Eddoti kooba Efreemii irratti, «Kowa'a, gara Mootii Waan
 Maraa Waaqa keenaa
 Xiyoonti ol baana» jedhanee iyyanu hin dhufa.
- ⁷ «Marroo kolbaa Yaaqoobiitiif gammadaan faarsa'a!
 Sooressa guddaa gosa biyya adda addaa
 kolbaa Israa'eliitiif ilillisa'a.
 Leellisa keessan dhageessisaa,
 «Ee Mootiin Waan Maraa,
 kolbaa Israa'elii keessaa worra lubbu'uun hafe baasi!» jedha'a.
- ⁸ Kunoo, ani lafa kaabaa irraa isaan hin fida;

- qaccee lafaa irralle'ee isaan wolitti hin qaba.
 Naafaa fi ballaan,
 dubartiin ulfaatii fi ta ciniinsifattu odduu isaanii jiran;
 isaan kolbaa hedduu te'anee hin deebi'an.
⁹ Yennaa ani gara biyya isaanii isaan deebisu,
 gammadaan bowaa daadimataa hin deebi'an.
 Ani Israa'eliif abbaa,
 Efreemille ilma kiyya angafichaa waan te'eef,
 ani qarqara madda bisaanii,
 karaa gufuu hin qanne,
 ka isaan hin gufanne irra isaan hin sooressa.
- ¹⁰ «Ee gosa biyya adda addaa,
 jecha Mootii Waan Maraa dhage'a'a!
 Lafa qarqara abbaaya'aa ta fago'oo irraa,
 «Ka Israa'el bittinnee isaan qabee,
 akka tisse'ee hoolee ifii hin eega» jedha'aatii lallaba'a.
- ¹¹ Ani sanyii Yaaqoobii hin woda;
 harka worra isaan caaluu keessalle'ee isaan hin baasa.
- ¹² Isaan dhufanee gaara Xiyoonii irratti
 gammadaan hin faarsan;
 arjooma kiyya,
 ka midhaaniitiin,
 ka daadhii woyni'ii o'itu'uu fi zayitii ejersaatiin,
 ka buruusoo hoole'eetii fi re'e'eetiin,
 ka raadaa fi jibichaatiin hin gammadan.
 Isaan akka oorruu bisaan keessa yaa'uu hin te'an;
 hagara achi hin gaggabanu.
- ¹³ Ijoolleen isaanii ta durraa gammadaan hin sirban;
 dargaggooti dhiiraatii fi jaarsoleen isaaniille hin firinxiixan.
 Ani bowa isaanii gara gammadaa hin jijjiira;
 gadda isaanii irraa isaan jajjabeessee
 gammada isaaniif hin kenna.
- ¹⁴ Ani hayyoota tiyya coomaan hin quussa;
 kolbaan tiyyalle arjooma kiyyaan hin quutti» jedhe.
- ¹⁵ Mootiin Waan Maraa, «Qoonqoon wiiccifataatii fi
 bowicha gudda'aa
 Raamaa keessatti dhage'ante.
 Raahel ijoollee ifitiif bootte;
 ijoolleen isi'ii waan hin jirreef
 jajjabaatuu didde» jedha.
- ¹⁶ Mootiin Waan Maraa Raaheliin,
 «Ati hujii teetiif gatii waan dhaggattuuf,
 qoonqoo teeti bowicha irraa,
 ila teeti imimmaan irraa eegadhu;
 ijoolleen teeti lafa diinaatii hin deebiti.
- ¹⁷ Maarre ati gara duraatiif addii qadda;
 ijoolleen teeti gara biyya ifii hin deebiti» jedha.
- ¹⁸ Mootiin Waan Maraa,
 «Ani dhugumaan aadiisa Efreemii dhage'eera;
 inni, «Ati akka jibicha hin leenjifaminii

- na adaddee anille adabame;
ati Mootii Waan Maraa Waaqa kiyya waan teeteef,
na deebisi, anille hin deebi'a.
- 19 Ani si irraa fagaadheen duuba, deebi'ee gaabbe;
ani hubadheen duuba gaddee qoma tiyya dhowadhe.
Sababa balleessaa bara dargagummaa tiyyaatiif fukkifadhee
salphadhe» jedha.
- 20 Efreem ilma ani jaaladhu,
ka ani itti gammaduu motii?
Yennaa maqaa isaa dhowu mara,
ani jaalalaan isa qaabadha.
Tanaaf gadhaan kiyya isa dharra'a;
ani dhugumaan marartii guddoo isaaf qaba.
- 21 Ee Israa'el, karaa keetiif beessisa dhaabbadhu;
waan karaa mudhisu keyadhu;
karaa guddaa irra deentu hubadhu;
gara qachaa keetii deebi'i.
- 22 Ee ati ta akka intala durraa ta hin addatannee,
haga yoomii asii fi achi joonjita?
Mootiin Waan Maraa waan haareya lafa irratti hin dada.
Kunille, Israa'el waajibittiin Mootii Waan Maraa
dhirsa ifii jabaa Mootii Waan Maraa hin hanqaffatti*» jedha.
- 23 Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, Waaqi Israa'elii, «Ani lafa
isaan itti booji'amane keessaa gara lafa isaanii yennaa isaan deebisu, isaan
biyya Yihuda'aatii fi qachaa achi keessaa keessatti, «Ee addee balchitti'i, ee
gaara woyyicha, Mootiin Waan Maraa si eebbisu» hin jedhan.
- 24 Yihuda'aa fi qachoota Yihuda'aa keessa qonnaan bula'aa fi horsiisee
bulaan marti woliin hin le'an.
- 25 Ani worra dadhabe, hunna isaanii hin haaressa; worra beelaan gaggabe
hin quussa» jedha.
- 26 Kana irratti ani hirriiba natti mi'oweeru irraa dammaqee asii fi achi
ilaale.
- 27 Mootiin Waan Maraa, «Barri ani mana Israa'eliitii fi Yihuda'aa namaa fi
hori'iin guutu hin dhufa.
- 28 Akka isaan buqqifamanu, akka isaan diigamanu, akka isaan badanu,
balaa isaan irratti fidiisaafille akkuma xiyyeeffadhe, ani isaan ijaariisaa fi
dhaabiisaafille hin xiyyeeffadha.
- 29 Bara san nami isaanii, «Abbootiin isaanii midhaan woyni'ii dhangag-
gowaa nyaatanee, ijoolleen isaanii ilkaan tutume» deebi'anee hin jedhanu.
- 30 «Ammoo nami martinuu cubbuma ifitiif hin du'a;
ka midhaan woyni'ii dhangaggowaa nyaate marti,
ilkaanuma ifii hin tutuma.
- 31 «Barri ani kolbaa Israa'eliitii fi Yihuda'aa woliin gondoaroo haareya
godhadhu hin dhufa.
- 32 Gondoeroon tun ta akka gondoaroo yennaa abbootii isaanii biyya
Gibxi'ii keessaa baasiisaaf, harka qabee isaan sooresseetii moti; ani abbaa
manaa isaanii te'ulle isaan gondoaroo tiyya waan diiganeef ani dudda
isaanitti gale.

* 31:22 Afaan Hibru'uu laakkossa kana irratti akka dansaa ifaa moti; te'uu malee addee tana keessatti
hiikkaan tun irra caalaa fudhatama qaddi fakkaatti.

³³ Gondooroon ani bara san kolbaa Israa'elii woliin godhadhu ta asii gad jirtu tana: ani seera kiyya qalbii isaanii keessa hin keya; gadhaa isaanii keessalle'etti hin barreessa. Ani Waaqa isaanii hin te'a; isaanille kolbaa tiyya hin te'an.

³⁴ Ani yakkaa isaanii isaaniif hin araarama; cubbuu isaaniille deebi'ee isaanitti hin laakkowu; isaan marti diqqa'aa haga gudda'aatitti na waan beekanuuf, hagara achi nami tokko ollaa ifii yookiin fira ifii, «Mootii Waan Maraa beeki» jedhee hin barsiisu» jedha.

³⁵ Aduun guyyaa akka issitu,

ji'aa fi urjiin halkan akka issanu,

abbaayaa raasee,

danbaliin akka shookkittu ka godhe,

maqaan isaa Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dade.

³⁶ Inni, «Seerri jabaatee dhaabbate kun fuula kiyya duraa yoo bade qofa, sanyiin Israa'elii kolbaa tiyya te'iisa lakkittee, fuula kiyya duraa ijjumaa baddi» jedha.

³⁷ Mootiin Waan Maraa, «Ol-gubbaan mikantee† hundeen lafaalle qorqorantee yoo beekkante qofa, ani sanyii Israa'elii sababa waan isaan hujane maraatiif isaan hin gata» jedha.

³⁸ Mootiin Waan Maraa, «Barri qachaan Yerusaalemii Xelleephoo Hanaani'elii irraa ka'ee haga karra roga dalleyaatitti deebi'ee naaf ijaaramu hin dhufa.

³⁹ Meessaan achii ka'ee haga kooba Gaarebii dhaqee gara Go'aatitti marfata.

⁴⁰ Dhooqi reeffi itti awwaalamuu fi daadhaan itti gatamu, fichaan odduu san jiru marti, haga dhooqa Qedrooniititti, karaa aduun baatulle'een haga karra fardo'oo ta roga dalleya qacha'aatitti, Mootii Waan Maraatiif ka woyyoomane hin te'an. Qachaan Yerusaalemii hagara achi deebi'ee hin diigamu, hin badulle'e» jedhe.

32

Ermiyaas Fichaa Bitate

¹ Zedeqiyaan mootii biyya Yihuda'aa te'ee woggaa kudhaneesso'ootitti, mootiin Baabilonii Nebukadnezaar mootii te'ee woggaa kudhanii saddeetesso'ootitti jechi Mootii Waan Maraa biraa gara Ermiyaasii dhufe ka asii gad jiru:

² Yennaa san loltooti mootii Baabilonii Yerusaalem marsaneeraniyyu; raagichi Ermiyaasille kolloo eeddootaa ta badhinna mana mootumma'aa ka mootii Yihuda'aa duraa keessatti hidhameeraayyu.

³ Mootiin Yihuda'aa Zedeqiyaan ka inni waan Mootiin Waan Maraa isatti mudhise raaga dubbateef isa hidhe sun, «Ati maaniif, «Mootiin Waan Maraa: Kunoo ani qachaa kana harka mootii Baabiloniititti dabarsee hin kenna; innille hin qabata.

⁴ Mootiin Yihuda'aa Zedeqiyaalle dhugumaan harka mootii Baabiloniititti dabarfamee hin kennama malee isa jalaa hin miliqu; inni mootii Baabilonii ilaan dhaggee, isa dura dhaabbatee, isa woliin hin dubbata.

⁵ Inni Zedeqiyyaa gara Baabilonii hin geessa; haga ani murtee isaaf kennutti inni achuma tura; worra Baabilonotaa yoo loltanelle hin injifattanu jedha» jette» jedhe.

⁶ Ermiyaas, «Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

† **31:37** *Mikantee*: Hagam akka dheerattuu fi badhattu meeshaa miki'iitiin yoo beekkante jechu'u.

⁷ «Hanaami'el ilmi obboleessa abbaa keetii Shaalum, gara keeti dhufee: Ati fira aanti'ii waan teeteef, fichaa kiyya ka qachaa Anaatotii bira jiru, akka seeraatitti wodatiisaaf mirga qadda si'iin hin jedha» anaan jedhe.

⁸ «Akkuma jechi Mootii Waan Maraa jedhe, ilmi obboleessa abbaa kiyyaa Hanaami'el badhinna mana hidha'aa ka addee eeddotaatitti gara kiyya dhufee, «Fichaa kiyya ka qachaa Anaatotii bira lafa Beniyaaminii keessa jiru akka seeraatitti wodatiisaaf nami mirga qabu si waan teeteef, woadhoo ifiif hamburadhu» anaan jedhe; maarre anille tun akka jecha Mootii Waan Maraa teete beekke,

⁹ lafa Hanaami'elii ilma obboleessa abbaa kiyyaa ta qachaa Anaatotii bira jiru san meetii gara giraama dhibba lamaa kennee irraa bitadhe.

¹⁰ Wolii galtee bitta'aa san addee dhugaa baatoti jirtutti itti mallatteessee chaappaa itti dhowe; meetille madaala irratti isaaf madaale.

¹¹ Achiin duuba garagalcha wolii galtee bitta'aa ta chaappaan itti dhowamee fi ta chaappaan itti hin dhowamin fuudhee,

¹² ilma obboleessa abbaa kiyyaa Hanaami'el, dhugaa baatota wolii galtee irratti mallatteessanee fi Yihudoota badhinna mana hidha'aa tee'aneeranu mara duratti, akaakoo Maaseya'aa, ilma Neriya'aa Baarukitti kenne.

¹³ Isaanuma duratti qajeelfama kana Baarukitti kennee:

¹⁴ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, Waaqi Israa'elii, «Wolii galtee bitta'aa ta chaappaan itti dhowamee fi ta chaappaan itti hin dhowamin tana fuudhiitii, akka isiin yenna hedduu turtuuf, okkotee keessatti massi.

¹⁵ Lafa tana keessatti namooti mana, ficha'aa fi oorruu muka woynii itti dhaabbatanu yennaan bitatanu hin dhutti jedha» jedhiin» jedhe.

Daadimata Ermiyaasii

¹⁶ Wolii galtee bitta'aa ilma Neriya'aa Baarukitti kenneen duuba, ani gara Mootii Waan Maraa daadimadhee,

¹⁷ «Ee Gootaa, Mootii Waan Maraa! Ati jabeenna keeti gudda'aa fi irree teeti hunnaametti'iin lafaa fi ol-gubbaa daddeerta; wonni ati hin dandeenne takkaalle hin jirtu.

¹⁸ Ati namoota kuma heddu'uuf jaalala keeti ka bara baraa hin mudhitta; te'uu malee, yakkaa abbootii sanyii isaaniititti hin laakkotta. Ati Waaqa guddaa hunnaamesa; maqaan keeti Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara dade.

¹⁹ Kaayoon teeti guddo'o; hujiin teetille hunnaametti'i. Ilti teeti waan ilmaan namaa hujju mara dhaggiti; tokko tokkoofuu akka ideensa isaatii fi akka hujii isaatitti gatii isaaf hin kennita.

²⁰ Ati beessisa bilbaasaatii fi maadee biyya Gibxi'ii keessatti hujjeerta; haga adhalle Israa'elii fi ilmaan namaa mara oddu'utti akkasuma hujiisatti jirta; tanaaf maqaan keeti biyya mara keessatti haga adhaa beekkame.

²¹ Ati beessisaa fi maade'een, jabeenna keeti gudda'aa fi irree teeti hunnaametti'iin, waan guddoo nama bararassuun kolbaa Israa'elii biyya Gibxi'ii keessaa baatteerta;

²² lafa abbootii isaanii ta duriitiif kenniisaaf kakatte, lafa aananii fi dammaa tana isaaniif kennite.

²³ Isaanille lafa sanitti galanee qabatane; isaan ammoo si'iif hin ajajane yookiin seera keeti hin eegane; waan ati isaan ajajelle hin muummessine; tanaaf ati badii tana mara isaanitti fidde.

²⁴ «Worri Baabilonii qachaa qabatiisaaf kaabii attam akka itti marsanee ijaarane ilaali; sababa woraanaatiin, sababa beelaatii fi bala'aatiin worra

qachaa kana loliisatti jiru harka worra Baabiloniititti qachaan kun dabarfamee hin kennama. Kunoo akkuma ati dhaggitu, wonni ati dubbatte teeteerti.

²⁵ Ee Goottaa, Mootii Waan Maraa! Qachaan harka worra Baabiloniititti dabarfamee akka kennamu adoo beettuu ati, «Dhugaa baatota biratti meeti'iin lafa bitadhu» naan jettee?» jedhe.

²⁶ Achiin duuba jechi Mootii Waan Maraa gara Ermiyaasii dhufee,

²⁷ «Ani Mootii Waan Maraa Waaqa nama maraa ti; wonni ani hin dan-deenne jirtii ree?

²⁸ Tanaaf Ani qachaa kana harka Nebukadnezaarii mootii Baabiloniititti dabarsee hin kenna; innille hin qabata.

²⁹ Worri Baabilonii ka qachaa kana loliisatti jiru, seenanee qachaa kana ibiddaan hin guban; mana isaan na aarsiisaaf heellichoo manaa irratti hix-aana Ba'aaliif aarsanuu fi mana isaan waaqota dhibi'iif kennansa daadhii woyni'ii itti dhikeessanu san mara hin guban.

³⁰ Kolbaan Israa'eliitii fi Yihuda'aa jalqabuma irraa jalqabane fuula kiyya duratti waan hantuu qofa hujane; isaan waan harka ifitiin hujaneen na aarsane malee wonni isaan hujane takkaalle hin jirtu.

³¹ Isaan qachaa kana haga ijaarameen jalqabane haga ammaatitti na aarsanee waan na mufachiisaneef ani qachaa kana fuula kiyya duraa hin balleessa.

³² Kolbaan Israa'eliitii fi Yihuda'aa, moototi isaanii, qondaaltoti isaanii, hayyootii fi raagoti isaanii hujii hantuu hujanee waan na aarsaneef, ani qachaa kana hin balleessa.

³³ Adoo ani deddeebi'ee isaan gorsuu, isaan dudda natti galane malee fuula natti hin galle; isaan gorsa kiyyalle hin caqanne yookiin adabbii tiyyalle'een hin deebine.

³⁴ Isaan waaqota dharaa ka jibbisiisu Galma maqaan kiyya keessatti waamamu keessa keyanee batteessane.

³⁵ Ilmaan ifitii fi ijoollee ifii ta durraa waaqa dharaa ka, «Moleek» jedhamuuf ciincaa dhikeessiisaaf, dhooqa Ben-Hiinomii keessatti waaqa dharaa Ba'aaliif, addee waaqonfanna'aa ijaarane; isaan waan jibbisiisaa akkasiitiin, kolbaan Yihuda'aa cubbuu akka hujju godhane; ani waan akkasii kana akka isaan naaf godhanu, isaan hin ajajne yookiin qalbii tiyya keessatti hin yaadanne.

³⁶ «Isin kolbaan, «Qachaan kun sababa woraanaatiin, sababa beelaatii fi bala'aatiin harka Nebukadnezaarii mootii Baabiloniititti dabarfamee hin kennama» jettan; ani Mootii Waan Maraa Waaqi Israa'elii ammoo,

³⁷ kolbaa aari'ii fi mufii tiyya jaddu'uun lafa itti bittinneesse mara keessaa dhugumaan wolitti hin qaba; gara addee tanaatitti deebisee isaan fidee akka isaan nageyaan le'anuu hin godha.

³⁸ Isaan kolbaa tiyya hin te'an; anille Waaqa isaaniif hin te'a.

³⁹ Isaan yennaa mara akka na sodaatanu, isaaniif, sanyii isaaniitiifille wonni dansaan akka teetu, ani gadhaa tokkocha fi yaada tokkocha isaaniif hin kenna.

⁴⁰ Ani gondoaroo bara baraa isaan woliin hin godhadha; waan dansaa isaaniif godhiisa hin lakkisu; akka isaan na irraa hin fagaanneef, ulfinna akka isaan naaf kennanu hin godha.

⁴¹ Ani waan dansaa isaaniif godhiisatti hin gammada; ani dhugumaan gadhaa kiyyaa fi yaada kiyya tokkochaan akka isaan lafa tana keessa le'anuu hin godha.

⁴² «Kolbaa tana irratti badii guddoo tana mara akkuma fide, waan dansaa isaaniif waadaa gale mara isaaniif hin kenna.

⁴³ Lafa isin, «Latti tun harka worra Baabiloniititti dabarfantee waan kenanteef, ontee ta nami yookiin horiin keessa hin jirre teeteerti» jettanu tana keessatti nami deebi'ee fichaa hin bitata.

⁴⁴ Ani biyya isaan itti booji'amane keessaa waan isaan deebisuuf, biyya Beniyaaminii keessatti, ollaa adaala Yersaaleemii keessatti, qachoota Yihuda'aa keessatti, qachoota biyya koobitti'ii keessatti, qachoota kooba gara aduun seentuu jalaatii fi qachoota kibba Yihuda'aa keessatti namooti fichaa meeti'iin hin bitatan; dhugaa baatota duratti wolii galtee irratti mallatteessanee chaappaa itti hin dhowan» jedhe.

33

Kolbaan Israa'elii Biyya Ifititti akka deebituuf Addii kenname

¹ Ermiyaas badhinna eeddootaa ta badhinna Galma Waaqaa duraa keessatti mana hidha'aa keessa adoo jiruu, jechi Mootiin Waan Maraa yennaa lammeesso'oo gara isaa dhufee,

² «Mootii Waan Maraa ka lafa dade, ka akka itti godhee addee isi'iititti dhaabe, ka maqaan isaa «Mootii Waan Maraa» jedhame,

³ inni, «Na waammadhu! Anille si'iif hin deebisa; waan guddoo ati hin beenne ta ati qorqortee bira hin geenne sitti hin hima» jedha.

⁴ Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, marroo mana qachaa Yersaaleemiitii fi marroo mana mootummaa Yihuda'aa, ka dhakaa mana saniitiin dalleya dhaka'aa ka qacha'aa jabeeffatane, kaabii loltooti Baabilonii itti marsanee fi lola worra Baabilonii ifi irraa dhooggatiisaaf, akka itti fayyadamanuuf diigamuutiif,

⁵ «Namooti qachaa sanii worra Baabilonii loliisaaf hin bayan; ammoo marroo hammeenna isaaniitiif ani fuula kiyya isaan irraa waan deebifadhuuf, reeffi namoota ani aari'ii fi mufii tiyya jaddu'uun ijjeesuu achi keessa hin guuta.

⁶ Te'uu malee ani qachaa kana ade'etti deebisee, kolbaa isa keessaalle fayyisee, bidhaa malee nageyaan akka le'anuu hin godha.

⁷ Ani worra Yihuda'aa fi Yersaaleem keessaa booji'ame, deebisee fidee akka duriititti isaan hin deebisa.

⁸ Ani yakkaa isaan na yakkane mara isaan irraa hin qulqulleessa; cubbuu isaan na fiqilane mara isaaniif hin araarama.

⁹ Achiin duuba qachaan kun qachaa maqaan kiyya ittiin beekkamu, ka ani ittiin gammadu, gosa biyya adda addaa worra waan dansaa ani qachaa kanaaf godhe kana mara dhage'e duratti, waan ani ittiin leellifamuu fi ittiin ulfaadhu hin te'a; kolbaan tun waan dansa'aa fi qananummaa ani qachaa kanaaf kennu mara dhaggitee sodaattee hin hollatti» jedha.

¹⁰ «Isin marroo addee tanaa, «Latti tun goomolee duwwaa, ta namii fi horiin keessa hin jirre» jettan; te'uu malee qachaa Yihuda'aatii fi karaa Yersaaleemii ka namii fi horiin keessaa dhabamanee goomolee duwwaa hafe kana keessatti deebi'ee,

¹¹ Worra lafa tana keessaa booji'amane akka duriititti waan isaan deebisuuf, qoonqoo gammadaatii fi ililleetti'ii, qoonqoo waajibichaatii fi waajibitti'ii, qoonqoon worra faaru'uun galateeffataa, gara Galma Waaqaa dhuufuu ta, «Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade dansaa waan te'eef, jaalalli isaalle ka bara baraa waan te'eef, isa galateeffadha'a» jedhuu hin dhage'anti» jedhe.

¹² Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Addee goomolee duwwaa ta namii fi horiin keessa hin jirre tana keessatti, qachoota isi'ii mara keessalle'etti, tissitooti addee horiin tikatuu fi addee horiin ciisu deebi'anee hin dhaggatan.

¹³ Qachoota kooba irraa keessatti, qachoota kooba gara aduun seentuu jalaatii fi qachoota kibba kana'aanii lafa Beniyaaminii keessatti, ollaa adaala Yersaaleemii keessaatii fi qachoota Yihuda'aa keessatti, tissitooti horii ifii hin toowatan» jedha.

¹⁴ Mootiin Waan Maraa, «Barri ani waadaa kolbaa Yihuda'aatii fi kolbaa Israa'eliitiifille gale muummessu hin dhufa.

¹⁵ Bara sanii fi yennaa san ani sanyii Daawitii keessaa mootii balchaa hin kaasa; inni lafa irratti haqaa fi waan sirrii te'e hin huja.

¹⁶ Bara san kolbaan Yihuda'aa hin fayyiti; kolbaan Yersaaleemiille nageyaan hin leeti. Bara san qachaa Yersaaleemii, «Waaqi balchummaa teenna» jedhanee hin waaman.

¹⁷ Sanyii Daawitii keessaa barcumaa mootummaa Daawitii irra ka tee'ee, Israa'elii ka bulchu ijjumaa hin dhabamu.

¹⁸ Hayyoota sanyii Lewwi'ii keessaa worra yennaa mara kennansa gubamu dhikeessiisaaf, kennansa midhaanii gubiisaaf, ciincaa dhikeessiisaafille, nami fuula kiyya dura dhaabbatu hin dhabamu» jedha.

¹⁹ Ammalle jechi Mootii Waan Maraa gara Ermiyaasii dhufee,

²⁰ «Mootiin Waan Maraa, «Guyya'aa fi halkan yennaa ifii eegatanee akka te'anuuf, seerata ani murteesse, isin keessaa eennulle yoo diiguu dande'e qofa,

²¹ tajaajilaa kiyya Daawitii fi Lewwoota hayyumma'aan na tajaajilanu woliin gondofoon ani gondooraadhe diigamuu dandeetti; Daawitille sanyii barcumaa mootummaa isaa dhaaltu hin dhagatu.

²² Sanyii tajaajilaa kiyya Daawititii fi hayyoota sanyii Lewwootaa worra ana tajaajilanuu akka urjoota ol-gubba'aa ta laakkowamuu hin dandeenneetii fi akka maansa abbaayaa qarqaraa ka safaramuu hin dandeennee hin baceessa» jedha» jedhe.

²³ Ammalle jechi Mootii Waan Maraa gara Ermiyaasii dhufee,

²⁴ «Kolbaan tun, «Mootiin Waan Maraa mootummoota filate, lamaanuu amma lakkiseera» jedhannee akka dubbatanu ati hin hubannee? Maarre isaan kolbaa tiyya tuffataneeran; akka kolba'aatitti isaan hin laakkonne.

²⁵ Mootiin Waan Maraa, «Guyya'aa fi halkan yennaa ifii eegatanee akka te'anuuf, ka seerata murteesse, ol-gubba'aa fi lafaaf seera hin jijjiiranne ka dhaabe na yoo hin te'in qofa,

²⁶ ani sanyii Yaaqoobiitii fi sanyii Daawitii tajaajilaa kiyyaa lakkisee, sanyii Daawitii keessalle'ee, sanyii Abrahaamii, sanyii Yisihaqiitii fi sanyii Yaaqoobii irratti mootii ka te'u hin filu jechu'u; ammoo worra booji'ame deebisee fidee, isaanii hin marara» jedha» jedhe.

34

Ermiyaas Gara Zedeqiya'aa Ergame

¹ Mootiin Baabilonii Nebukadnezaarii fi loltooti isaa marti, mootummootii fi gosi biyya adda addaa worri bulchiinsa isaa jala jiranu marti, Yersaaleemii fi qachoota adaala isi'ii yennaa loliisatti jiranu, jechi kun Mootii Waan Maraa biraa gara Ermiyaasii dhufee,

² «Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, «Gara Zedeqiiyaa mootii Yihuda'aa dhaqiitii: Ani qachaa kana harka mootii Baabiloniititti dabarsee hin kenna; innille ibiddaan hin guba.

³ Atille dhugumaan qabantee harka isaatitti dabarfantee kennanta malee, isa jalaa hin milixxu; iluma teetiin mootii Baabilonii hin dhaggita; inni si dura dhaabbatee si woliin hin dubbata; gara Baabiloniille hin deenta.

⁴ Ee Zedeqiiyaa mootii Yihuda'aa! Ati shallaaga'aan hin duutu;

⁵ ati nageyaan hin duuta; abbootii teeti ta durii, worri si'iin dura mootota te'ane yennaa du'ane, kolbaan ulfinna awwaala isaaniitiif ibidda akkuma gabbisane, ulfinna awwaala keetiitiifille ibidda gabbisane: Aanne'e, ee gootaa keenna jedhaa si'iif hin bowan; ani waadaa kana si'iif hin muummessa jedheera» jedhi» jedhe.

⁶ Achiin duuba raagichi Ermiyaas waan kana mara Yerusaalem keessatti, Zedeqiiyaa mootii Yihuda'aatitti hime;

⁷ yennaa san loltooti mootii Baabilonii qachaa Yerusaalemiitii fi qachoota Yihuda'aa ka dalleya dhaka'aa qabanu keessaa adoo hin qabamin ka hafa-neeranu Laakiishii fi Aazeqaa qofa waan te'aneef loliisatti jiran.

Bilisummaa Garbootaa

⁸ Mootichi Zedeqiiyaan garbooleen bilisa akka bayanu, kolbaa Yerusaalem keessaa mara woliin gondoorroo gondoorateen duuba, jechi Mootiin Waan Maraa biraa gara Ermiyaasii dhufe.

⁹ Akka wolii galtee tanaatitti nami garbicha yookiin garbittii sanyii worra Ibrootaa qabu marti bilisa isaan baasuu qaba; nami tokkolle Yihudoota obboleeyyan ifii garba godhatuu hin malle.

¹⁰ Maarre qondaaltotii fi kolbaan marti worri gondoorroo tana keessa jiranu, garboolee ifii ta dhiiraatii fi ta durraa bilisa baasiisaaf, hagonaa achi garba akka isaan hin godhanne wolii galane.

¹¹ Yennaa diqqo'oon duuba ammoo yaada ifii jijjiiratanee, garboolee bilisa baasane san deebifatanee garba godhatane.

¹² Achiin duuba jechi Mootii Waan Maraa gara Ermiyaasii dhufee,

¹³ «Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, «Ani abbootii teessan biyya Gibxi'ii keessaa garbummaa jalaa yennaa baase, gondoorroo isaan woliin gondooraadhee,

¹⁴ isaaniin: Tokko tokkoon keessan nama Ibrootaa ka isinitti ifi gurgure woggaa jaa isin tajaajileen duuba, woggaa torbeesso'ootitti bilisa isa baasa'a! Jedheeraayyu; abbootiin teessan ta durii ammoo waan ani dubbadhe hin dhageenne yookiin naafille hin ajajanne.

¹⁵ Isin amma cubbuu irraa deebitanee fuula kiyya duratti waan sirrii te'e hujjaneertan; tokko tokkoon keessan Yihudoota obboleeyyan teessan ta garba godhattane bilisa baattaneertan; Galma maqaa kiyyaan waamamu keessatti na duratti gondoorroo gondooraaneertaniyyu.

¹⁶ Amma ammoo yaada keessan jijjiirattanee maqaa kiyya batteessitane; tokko tokkoon keessan garboolee teessan ta dhiiraatii fi ta durraa ta qara addee fedhane akka deemanu bilisa baattane deebittanee hunnaan garba godhattane.

¹⁷ Tanaaf ani Mootiin Waan Maraa: Isin naaf ajajantane, Yihudoota obboleeyyan teessaniif bilisummaa hin kennine. Maarre ani bilisummaa isin shallaaga'aan, beelaa fi bala'aan dhumattanu isiniif hin kenna; mootummoota biyya lafaa maratti waan hantuu nami dhaggee bararaqu isin hin godha.

¹⁸ Namoota gondo-roo tiyya diiganuu fi jecha gondo-roo sanii hin muummessine, ani akkuma jibicha isaan qalanee addee lamatti gargar baasanee wodhakkaa dabaranuu san isaan hin godha.

¹⁹ Sooreyyiin Yihuda'aatii fi Yerusaalemii, gondaaltota mana mootummaa isaa, hayyootaa fi kolbaa lafa sanii ta jibicha qalanee addee lamatti gargar baasane san wodhakkaa dabarane mara,

²⁰ ani harka diinota isaan ijjeesiisaaf barbaadanutti dabarsee isaan hin kenna; reeffi isaanii allaatti'ii fi bineensotaaf sagalee hin te'a.

²¹ Mootii Yihuda'aa Zedeqiya'aa fi gondaaltota isaa worra isaan ijjeesiisaaf barbaadu, harka loltoota mootii Baabilonii ta amma isaan loliisa lakkisaneetitti dabarsee isaan hin kenna.

²² Kunoo, loltooti mootii Baabilonii gara qachaa kanaa akka deebi'anuu hin ajaja; isaan qachaa kana lolanee hin qabatan; ibiddalle'een hin guban; ani qachoota Yihuda'aa mara ona hin godha; nami tokkolle achi keessa hin le'u» jedheeraayyu» jedhe.

35

Ermiyaasii Fi Worra Rekaabotaa

¹ Bara ilmi Yosiyasii Yehoyaaqiim Yihudaa irratti mootii te'eeru, Jechi Mootii Waan Maraa biraa gara Ermiyaasii dhufee,

² «Gara maatii worra Rekaabotaa dhaqiitii, gara Galma Waaqaa isaan fidi; kolloo cinaa Galma Waaqaa jirtu keessaa takkatti'itti galchiitii daadhii woyni'ii isaan obaas!» jedhe.

³ Maarre ani gara akaakoo Habazneya'aa, ilma Ermiyaasii* Yaazaaniyaa bira dhaqee obboleeyyan isaatii fi ilmaan isaa mara, maatii worra Rekaabotaa mara fide.

⁴ Gara Galma Waaqaa isaan fidee, kolloo ilmaan Haannanii, ilma Gidaaliyaa raagichaa keessa isaan teessise; kolloon sun kolloo bulchitootaatiitti aantee, kolloo Ma'aseyaa ilma Shaalumii ka balbala eeguutiin gubbaa jirti.

⁵ Achiin duuba ani daadhii woyni'ii qori'ii fi muduunu'utti guutee worra maatii Rekaabotaa dura keyee isaaniin, «Daadhii woyni'ii tana una'a» jedhe.

⁶ Isaan ammoo deebisane, «Abbaan abbootii teenna ta durii Yonaadaab ilmi Rekaabii, Isinii fi sanyiin teessan daadhii woyni'ii ijumaa hin unina'a» jedhee waan ajajeeruuf, nuuti daadhii woyni'ii hin unnu!

⁷ Akkasuma, «Lafa hori'iin keessa godaantanu tana keessa bara dheeraa akka leetanu, bara le'ii teessanii mara dunkaanii keessa le'aa malee mana hin ijaaratina'a; midhaan hin facaafatina'a; muka woyniille hin dhaabatina'a; waan kana tokkolle hin qabaatina'a» jedheera.

⁸ Nuutille ajaja abbaa abbootii teenna ta durii, Yonaadaabiin ilmi Rekaabii nu ajaje eeganneerra; nuuti, niitoti teennaa fi ilmaan teenna ta dhiiraatii fi ta durraa daadhii woyni'ii hin unne

⁹ yookiin keessa le'iisaaf mana hin ijaaranne yookiin muka woyni'ii yookiin fichaa yookiin midhaan hin qannu.

¹⁰ Dunkaanii keessa leene; waan abbaan abbootii teenna ta durii Yonaadaab nu ajaje mara eeganneerra.

¹¹ Mootiin Baabilonii Nebukadnezaar dhufee lafa tana yennaa qabate ammoo, nuuti, «Loltoota Baabiloniitii fi Sooriya'aa jalaa baqatiisaaf, kowa'a, gara Yerusaalemii deenna» jennee murteeffanneera; tanaaf as Yerusaalem keessa turre» jedhane.

¹² Achiin duuba Jechi Mootii Waan Maraa gara Ermiyaasii dhufee,

* **35:3** *Ermiyaas*: Ermiyaasiin kun Ermiyaasii raagichaa moti.

¹³ «Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade Waaqi Israa'elii: Dhaqiitii, namoota Yiuda'aatii fi kolbaa Yerusaalemiitiin, «Isin jecha kiyyaaf ajajami-isaaf, tana irraa hin barattanu ree?» jedhi.

¹⁴ Ilmi Rekaabii Yanaadaab sanyiin isaa daadhii woyni'ii akka hin unne ajajee, isaan ajaja isaa waan eegataneef haga adhaa daadhii woyni'ii hin unanu; ani ammoo itti deddeebi'ee isinitti dubbadheeraayyu; te'uu malee isin naaf hin ajajanne.

¹⁵ Ani tajaajiltoota tiyya raagota itti deddeebi'ee gara keessan ergee, «Tokko tokkoon keessan karaa keessan hamaa irraa deebitanee hujii teessan sirreef-fatiisa qaddan; isaan tajaajiliisaaf, waaqota dhibii hin hordofina'a! Yoo san lafa ani isinii fi abbootii teessan ta duriitiif kenne keessa hin leetan» isiniin jedheeraayyu; isin ammoo waan ani isinitti hime hin dhageenne; anaafille hin ajajanne.

¹⁶ Sanyiin Yonaadaabii ilma Rekaabii ajaja abbaan abbootii isaanii ta durii isaaniif kenne eegataneeran; kolbaan tun ammoo naaf hin ajajanne.

¹⁷ Tanaaf kolbaan Yihuda'aatii fi Yerusaalemii yennaa ani isaanitti dubbadhe waan hin caqasiniif, yennaa ani isaan waame waan hin owwaatiiniif, kunoo, ani Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dande'u Waaqi Israa'elii, «Badii isaan irratti fidiisaaf dubbadhe san mara isaanitti hin fida» jedha» jedhe.

¹⁸ Achiin duuba Ermiyaas worra maatii Rekaabotaatiin, «Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, Waaqi Israa'elii, «Isin ajaja abbaan abbootii teessanii Yonaadaab isin ajaje eegattaneertan; qajeelfama isaalle hordottanee, waan inni isin ajaje mara gootaneertan.

¹⁹ Tanaaf, sanyii Yonaadaabii ilma Rekaabii keessaa nami yennaa mara na dura dhaabbatee na tajaajilu hin dhabamu» jedha» jedheen.

36

Baaruk Kitaaba Maramaa Galma Waaqaa keessatti Dubbise

¹ Ilmi Yosiyasii Yehoyaaqiim mootii Yihuda'aa te'ee woggaa arfeesso'ootitti jechi kun Mootii Waan Maraa biraa gara Ermiyaasii dhufee,

² «Kitaaba maramaa fuudhiitii dubbii ani marroo Israa'elii, marroo Yihuda'aatii fi marroo gosa biyya adda addaa mara, bara mootummaa Yosiyasiiitii jalqabee haga ammaa si'itti dubbadhe mara irratti barreessi.

³ Kolbaan Yihuda'aa balaa ani isaan irratti fidiisaaf hede yennaa dhage'ane, karaa ifii hamaa san irraa hin deebi'an fa te'a; achiin duuba anille yakkaa isaaniitii fi cubbuu isaanii isaaniif hin araarama» jedhe.

⁴ Maarre Ermiyaas ilma Neriya'aa Baaruk waamee jecha Mootiin Waan Maraa isatti dubbate mara afaaniin Baarukitti himuun, inni kitaaba mara-maa irratti barreesse.

⁵ Achiin duuba Ermiyaas Baaruk ajajee, «Ani Galma Waaqaa keessa akka hin seenneef dhoogameera.

⁶ Maarre ati dhaqiitii jecha Mootii Waan Maraa ka ani afaaniin sitti himuun kitaaba maramaa irratti barreessite san, guyyaa laamaa, Galma Waaqaa keessatti kolbaa Yihuda'aa ta qachaa ifii keessaa dhutte maraaf dubbisi.

⁷ Aari'ii fi mufiin jadduun Mootiin Waan Maraa kolbaa tana adabiisaaf dubbate, guddoo waan teeteef, tokko tokkoon isaanii karaa hamaa ifii irraa deebi'anee, Mootii Waan Maraa hin kadhatan fa te'a» jedhe.

⁸ Maarre ilmi Neriya'aa Baaruk akkuma Ermiyaas isatti hime, jecha Mootii Waan Maraa ka kitaaba maramaa irratti barreeffame san Galma Mootii Waan Maraa keessatti dubbise.

⁹ Ilmi Yosiyasii Yehoyaaqiim mootii Yihuda'aa te'ee woggaa shaneesso'oo, ji'a sagaleesso'ootitti, kolbaan Yerusaalemiitii fi kolbaan qachaa Yihuda'aa keessaa gara Yerusaalemii dhufane marti Mootii Waan Maraa duratti laami-isaaf lassii lassane.

¹⁰ Achiin duuba, badhinna Galma Waaqaa ka gubba'aa keessatti, seen-suma karra haareya Galma Waaqaa biratti, kolloo Gemaariyaa barreessicha ilma Shaafaanii keessaa, Baaruk jecha Ermiyaas dubbate, kolbaa maraaf kitaaba maramaa keessaa dubbise.

¹¹ Akaakoon Shaafaanii ilmii Gemaariya'aa Miikaayaan jecha Mootii Waan Maraa mara kitaaba maramaa keessaa yennaa dhage'e,

¹² inni addee qondaaltoti marti: Eliishaamaan barreessichi, ilmi Shemaariya'aa Delaayaan, ilmi Akborii Elnaataan, ilmi Shaafaanii Gemaariyaan, ilmi Hanaaniya'aa Zedeqiyaan ta qondaaltoti dhibiin martille tee'aneeranu, gara kolloo barreessicha mana mootumma'aa gad bu'ee,

¹³ Miikaayaan waan Baaruk kitaaba maramaa keessaa kolba'aaf dubbiseen dhage'e mara isaanitti hime.

¹⁴ Achiin duuba qondaaltoti sun marti, abuuboo kuushii, akaakoo Shelemiyya'aa, ilma Netaaniya'aa Yehud erganee, «Dhaqiitii Baarukiin, «Kitaaba maramaa kolba'aaf dubbitte san fidii koy!» jedhiin» jedhane; maarre ilmi Neriyya'aa Baaruk kitaaba maramaa san harkatti qabatee dhufe.

¹⁵ Isaanille Baarukiin, «Tee'iitii, maganne'e, nu'uuf dubbisi!» jedhane; innille isaaniiif dubbise.

¹⁶ Jechoota kana mara dhage'aneen duuba sodaatanee, wol ilaalanee, Baarukiin, «Nuuti waan kana mara mootichatti hin hinna» jedhane.

¹⁷ Achiin duuba, «Me, waan kana attam akka barreessite, nutti himi? Ermiyaasitti afaaniin sitti himee?» jedhane Baaruk gaafatane.

¹⁸ Baarukille deebisee, «Ee, isattuu jecha kana mara afaaniin natti himee, ani kitaaba maramaa irratti hallu'uun barreesse» jedhe.

¹⁹ Achiin duuba qondaaltoti Baarukiin, «Atii fi Ermiyaas deema'aa dhokadha'a; addee isin jirtanu eennulle hin beekin» jedhane.

Mootichi Kitaaba Maramaa Gube

²⁰ Qondaaltoti kitaaba maramaa san kolloo Eliishaamaa barreessichaa keessa keyanee, gara badhinna mana mootumma'aa dhaqanee, waan mara mootichatti himane.

²¹ Achiin duuba mootichi kitaaba maramaa san akka fiduuf, Yehud erge; innille kitaaba maramaa san kolloo Eliishaamaa barreessichaa keessaa fidee, mootichaa fi qondaaltota cinaa isaa dhaabbataneeranu maraaf dubbise.

²² Yennaan sun ji'a sagaleesso'oo, ganna waan te'eef, mootichi mana ji'a gannaa itti dabarsu keessatti, suunsuma ibiddi irratti gabbatiisatti jiru bira tee'ee o'ifataayyu.

²³ Akkuma Yehud kitaaba maramaa san keessaa fuula afur yookiin fuula sad dubbiseen mootichi kitaaba maramaa isaaf dubbifame san seenxi'iin kukkutee haga gubatee dhumatutti, suunsuma ibiddi irratti gabbifame san keessa buuse.

²⁴ Mootichii fi tajaajiltooti isaa worri dubbii tana dhage'ane marti hin sodaanne; gaddanee woyaa ifii hin tarsaanne.

²⁵ Isaan keessaa Elnaataan, Delaaya'aa fi Gemaariyaan kitaab maramaan sun akka hin gubane mooticha kadhatanulle, inni isaan hin caqanne.

²⁶ Achiin duuba inni ilma mootichaa tokko Yeraami'el, ilma Azrii'elii Seraaya'aa fi ilma Abdi'elii Shelemiyyaa ergee, Baarukii barreessicha kiyya

fi Ermiyaasii raagicha qabanee akka fidanuuf ajaje; Mootiin Waan Maraa ammoo isaan dhosse.

Ermiyaas Ammalle Kitaaba Maramaa Dhibii Barreesse

²⁷ Mootichi kitaaba maramaa ka Ermiyaas afaaniin himuun Baaruk barreesse san gubeen duuba, jechi Mootii Waan Maraa gara Ermiyaasii dhufee,

²⁸ «Kitaaba maramaa dhibii fuudhiitii, jechoota qaraa ka kitaaba maramaa mootichi Yihuda'aa Yehoyaaqiim gube san irra jiru, deebisii itti barreesi.

²⁹ Mootii Yihuda'aa Yehoyaaqiimiin, «Mootiin Waan Maraa: Mootiin Baabilonii dhufee lafa tana akka balleessu, namaa fi bineensa lafa irraalle akka fixu maaf barreesite? Jettee kitaaba maramaa san guddeerta.

³⁰ Tanaaf, ee mootii Yihuda'aa Yehoyaaqiim, Sanyii teeti keessaa nami barcumaa mootummaa Daawitii irra tee'u hin dhaggamu; reeffi keeti o'a adu'uutii fi qorra halkaniititti gad hin gatama.

³¹ Sababa hammeenna keessaniitiif, ani si'iif fi sanyii teeti, tajaajiltoota teetille hin adaba; waan na caqasuu diddaneef, balaa fidiisaaf yaade san mara isinitti, worra Yersaalem keessa le'anuu mara irratti, kolbaa Yihuda'aa mara irralle'etti hin fida jedha» jedhiin» jedhe.

³² Achiin duuba Ermiyaas kitaaba maramaa dhibii fuudhee ilma Neriya'aa Baarukii baarreessichatti kenne; akkuma Ermiyaas kitaaba maramaa mootiin Yihuda'aa Yehoyaaqiim gube san afaaniin itti himuun barreesse san, ammalle Baaruk barreesisiise; jechooti dhibiille ka kitaaba maramaa qaraa keessatti barreeffameen wol fakkaatu baca'atti itti dabalame.

37

Gaaffii Zedeqiyaan Ermiyaas Gaafate

¹ Mootiin Baabilonii Nebukadnezhaar addee Koniya ilma Yehoyaaqiimiititti, ilma Yosiyasii Zedeqiyaan biyya Yihudaa irratti mootii godhe.

² Te'uu malee zedeqiya'aa fi tajaajiltooti isaa, kolbaa lafa saniille jecha Mootii Waan Maraa ka Ermiyaasiin raagichi dubbate hin dhageenne.

³ Mootichi Zedeqiyaan ilma Shelemiya'aa, Yukaalii fi ilma Ma'aseya'aa Safaaniyaa hayyicha gara Ermiyaasii ergee, «Magganne'e, gara Mootii Waan Maraa Waaqa keenaa nu'uuf daadimadhu» jedhe.

⁴ Yennaa san Ermiyaas mana hidha'aatitti waan hin galiniif, kolbaa odduu akka fedhe deddeemaayyu.

⁵ Worri Baabilonii ka Yersaalem marsaneeranu, loltooti mootii Gibxi'ii lolaaf biyya Gibxi'ii keessaa akka bayane oduu yennaa dhage'ane, Yersaalem lakkisane baqatane.

⁶ Achiin duuba jechi Mootii Waan Maraa gara Ermiyaasii raagichaa dhufee,

⁷ «Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, «Mootii Yihuda'aa ka akka isin gorsa Ermiyaas gaafatanuuf gara kiyya isin ergeen: Kunoo, loltooti mootii biyya Gibxi'ii ka isin qarqaariisaaf dhufane, gara biyya ifii Gibxi'itti hin deebi'an.

⁸ Achiin duuba worri Baabilonii deebi'ane dhufanee, qachaa kana hin lolan; isaan qachaa kana qabatanee hin guban.

⁹ Worri Baabilonii isin irraa waan hin deemiiniif, deemaneeran seetane ifi hin sobina'a.

¹⁰ Isin loltoota Baabilonii worra isin loliisatti jiru adoo injifattanelle'ee, isaan keessaa worri madowee dukaani ifi keessatti hafe callaan, bayanee dhufanee qachaa kana hin guban jedha» jedhiin» jedhe.

Ermiyaas Qabamee Hidhame

¹¹ Loltooti worra Baabilonii, loltooti mootii biyya Gibxi'ii akka dhikaatane beekanee, Yersaaleem lakkisanee duuba,

¹² Ermiyaas qooda lafa ifii fudhatiisaaf, Yersaaleemii ka'ee, gara lafa Beniyaamin dhage.

¹³ Inni dhufee karra Yersaaleemii ta, «Karra Beniyaamin» jedhantu yenna geye, ajajaan eeddotaa ka maqaan isaa, «Yiriyaa» jedhamu, ilmi Shelemiyya'aa akaakoon Hanaaniya'aa, «Ati finqiltee gara worra Baabilonii deemaarta!» jedhee isa qabe.

¹⁴ Ermiyaas deebisee, «Lakkii, akkasii moti! Ani finqilee gara worra Baabilonii deemiisatti hin jiru» jedhe. Yiriyaa ammoo dubbii isaa dhugeeffatuu didee, isa qabee gara qondaaltotaa geesse.

¹⁵ Isaan guddoo Ermiyaasitti aaranee isa dhaanane, mana Yonaataanii barreessichaa ka mana hidha'aa godhataneeranu keessatti isa hidhane.

¹⁶ Ermiyaas Kolloo mana boolla keessaa san keessatti hidhamee yenna hedduu ture.

¹⁷ Achiin duuba mootichi Zedeqiyaan nama ergee gara mana mootumma'aa ka ifii isa fidee, «Wonna Mootiin Waan Maraa sitti dubbate jirtii?» jedhee qofuu isa gaafate.

Innille deebisee, «Ee, hin jirti; ati harka mootii Baabiloniititti dabarfantee hin kennanta» jedhe.

¹⁸ Achiin duuba Ermiyaas mooticha Zedeqiya'aan, «Ani maan si yakke? Tajaajiltoota teetii fi kolbaa teeti irralle'etti yakkaa maan hujeef na hiisitte?

¹⁹ Raagoti teeti, ta «Mootiin Baabilonii si'ii fi lafa tana hin lolu» jedhane raagane eessa jiran?

²⁰ Ee gootaa kiyaa mooti'i! Maganne'e waan ani sitti himadhu akka naaf dhageettu si kadhada! Ani achitti akka hin duune deebittee mana Yonaataanii barreessichaattitti na hin hiisisin!» jedhe.

²¹ Maarre mootichi Zedeqiyaan kolloo eeddotaa ta badhinna mana mootumma'aa keessatti akka hidhamu ajajee, daaboon qachaa keessaa haga dhumatutti karaa worra daabboo bilcheesuutiin guyyuma guyya'aan daabboo tokko tokko akka isaaf kennanu godhe. Maarre Ermiyaas kolloo eeddotaa ta badhinna mana mootumma'aa keessa ture.

38

Ermiyaas Boolla Bisaanii Godduu Keessa Keyane

¹ Ilmi Maataanii Shefaaxiyaan, ilmi Phashihurii Gadaaliyaan, ilmi Shelemiyya'aa Yukaalii fi ilmi Malkiyya'aa Phashihur dubbii Ermiyaas kolbaa maratti dubbate dhage'ane;

² Dubbiin inni dubbate sun, «Mootiin Waan Maraa, «Worri qachaa keessatti hafu marti shallaaga'aan, beelaa fi dhukkubaan hin du'an; worri gara worra Baabilonii baqatu ammoo hin ijjeefamu; jiru'uun jalaa bayanee hin le'an.

³ Qachaan kun dhugumaan harka mootii Baabiloniititti dabarfamee hin kennama; innille hin qabata» jedha» ta jettu.

⁴ Achiin duuba qondaaltoti mootichaan, «Namichi kun waan akkanaa dubbatiisaan loltoota teenna ta qachaa kana keessatti hafanee fi kolbaa mara sossodaachisa; nami kun kolbaa tanaaf badii malee waan dansaa waan hin halchiniif isa ijjeesi!» jedhane.

⁵ Mootichi Zedeqiyaan deebisee, «Kunoo, inni harka keessan keessa waan jiruuf, akka feetane yoo isa gootane ani isin dhoogguu hin dande'u» jedhe.

⁶ Maarre isaan Ermiyaas geessanee wodaro'oon boolla bisaanii ta Malki-iyaa ilma mootichaa, ta badhinna kolloo eeddootaa keessa jirtu keessa buusane; boolli sun dhoqqee malee bisaan keessa hin jiru; Ermiyaasille dhoqqee keessa gad lixe.

⁷ Guneessichi, «Ebeed-Melek» jedhamu nami biyya Itoophiya'aa*, ka mana mootumma'aa keessa jiru akka Ermiyaas boolla bisaanii keessa buusane dhage'e; yennaa san mootichi karra Beniyaaminii bira tee'eeraayyu;

⁸ maarre Ebeed-Melek mana mootumma'aa keessaa bayee gara mootichaa dhagee,

⁹ «Ee gootaa kiyya mooti'i, namooti kun Ermiyaasii raagicha irratti hammeenna hujanee, yennaa daabboon qachaa keessa hin jirretti, boolla bisaanii keessa buusane; inni achitti hin du'a» jedhe.

¹⁰ Achiin duuba mootichi Zedeqiyaan Ebeed-Melekii nama biyya Itoophiya'aatiin†, «Namoota soddoma asii fudhadhuu dhaqiitii, adoo inni hin du'in boolla bisaanii san keessaa isa baasi» jedhee ajaje.

¹¹ Maarre Ebeed-Melek namoota san woliin gara kolloo mana mootumma'aa keessaa ta mana meyaatiin jala jirtuu dhagee, woyaa dullatti'ii fi hoccuu bututtuu fuudhee wodaroo itti hidhee gara Ermiyaasii boolla bisaanii keessa gad buuse.

¹² Achiin duuba Ebeed-Melekii nami biyya Itoophiya'aa‡, Ermiyaasiin, «Wodaron akka si hin luqqinne, woyaa dullatti'ii fi hoccuu bututtuu tana bobaa teeti jala keyadhu» jedhe; Ermiyaasille akkuma san godhe;

¹³ isaanille wodaro'oon harkisane Ermiyaas boolla bisaanii keessaa baasane; Ermiyaasille badhinna eeddootaa ka badhinna mana mootumma'aa keessa jirtu keessa ture.

Zedeqiyaan Akka Ermiyaas Isa Gorsu Gaafate

¹⁴ Zedeqiyaan gara Ermiyaasii raagichaa nama ergee, gara seensuma Galma Waaqaa ka sadeesso'ootitti akka isa fidanu godhee, «Gaaffii tokko si gaafadha, womaa na hin dhossin» isaan jedhe.

¹⁵ Innille mootichaan, «Ani yoo deebii sii kenne, ati na hin ijeetta; yoo si gorselle, ati na hin dhageettu» jedhe.

¹⁶ Maarre mootichi Zedeqiyaan dhossa'aan Ermiyaasiif kakatee, «Dhugaa Mootii Waan Maraa ka jiraataa te'ee jiruu nu'uuf kennee, ani si hin ijeesu; worra si ijeesuu barbaadanulle'eef dabarsee si hin kennu» jedhe.

¹⁷ Achiin duuba Ermiyaas Zedeqiya'aan, «Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dande'u, Waaqi Israa'elii, «Ati qondaaltota mootii Baabiloniititti harka yoo kennatte, jiru'uun hin jiraatta; qachaan kunille hin gubatu; atii fi maatii teetille jiru'uun hin jiraattan.

¹⁸ Ati qondaaltota mootii Baabiloniititti harka yoo hin kennatin ammoo, qachaan kun harka worra Baabiloniititti dabarfamee hin kennama; isaanille isa hin guban; atille isaan jalaa hin baatu» jedha» jedheen.

¹⁹ Mootichi Zedeqiyaalle Ermiyaasiin, «Ani Yihudoota worra finqilee Baabilonitti gale hin sodaadha; worri Baabilonii isaanitti dabarsanee na waan kennanuuf, isaan na hin farrisiisan» jedhe.

²⁰ Ermiyaasille deebisee, «Isaan dabarsanee si hin kennanu; jecha Mootii Waan Maraa ka ani sitti himu kanaaf ajajam; wonni dansaalle si'iif hin teeti; ati lubbu'uun jiraatta.

* **38:7 Itoophiyaa:** Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali. † **38:10 Itoophiyaa:** Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali. ‡ **38:12 Itoophiyaa:** Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali.

²¹ Ati yoo harka kennatuu didde ammoo, wonni Mootiin Waan Maraa natti mudhise tana:

²² Dubartooti mana mootii Yihuda'aa keessatti hafane marti qondaaltota mootii Baabiloniitiif dabarfamanee hin kennaman; dubartooti sun si'iin:

«Jaaloti teeti worri ati addatte
si dokonkorsanee si injifatane.

Miilli keeti dhogqee keessa lixeera;

jaaloti keeti si lakkisane baqataneeran» hin jedhan.

²³ «Niitoti teetii fi ijoolleen teeti marti worra Baabiloniitiif dabarfamanee hin kennaman; atille mootii Baabiloniitiin hin qabanta malee harka isaa jalaa hin baatu; qachaan kunille hin gubama» jedheen.

²⁴ Achiin duuba Zedeqiyaan deebisee Ermiyaasiin, «Waan dubbanne kana eennulle hin beekin; atille hin duutu.

²⁵ Qondaaltoti waan ani si woliin dubbadhe kana dhage'anee, gara keeti dhufanee, «Waan mootichaan jette, mootichille waan siin jedhe nutti himi; nu hin dhossin; yoo ati nu dhossite nuuti si hin ijeenna» yoo si'iin jedhane,

²⁶ ati deebisiitii, «Mootichi gara mana Yonaataanii na deebisee, ani achitti akka hin duune isa kadhade» jedhiin» jedhe.

²⁷ Qondaaltoti marti gara Ermiyaasii dhufanee isa gaafatane; innille akkuma mootichi isa ajaje isaaniif deebise; maarre waan inni mooticha woliin dubbate nami tokkolle waan hin dhage'iniif, isaan isa gaaffii lakkisane.

²⁸ Ermiyaasille haga guyyaa Yerusaalem qabanteetitti, badhinna eeddootaa ka badhinna mana mootumma'aa keessa ture.

39

Jinnana Yerusaalemii

¹ Zedeqiyaan mootii Yihuda'aa te'ee woggaa sagaleesso'oo ji'a kudha-neesso'ootitti, mootiin Baabilonii Nebukadnezaar loltoota ifii mara woliin itti duulee Yerusaalem marse.

² Zedeqiyaan mootii te'ee woggaa kudhanii tokkeesso'ootitti, ji'a arfeesso'oo guyyaa sagaleesso'ootitti worri Baabilonii dalleya qacha'aa casane.

³ Yennaa qachaan Yerusaalemii qabame, qondaaltoti mootii Baabilonii marti: Nergaal-Shaarezer, Samgaar-Nebuu, Saar-Sekiim sooressi ajajjoota hojjatoota mana mootumma'aa, Nergaal-Shaarezer qondaala ol-aana'aa fi qondaaltota mootii Baabilonii dhibii mara woliin dhufanee karra wodhakkaa jirtu keessatti addee qabatane.

⁴ Mootichi Yihuda'aa Zedeqiya'aa fi loltooti isaa marti yennaa isaan dhaggane, karra karaa oorruu mootichaa ta dalleya lama wodhakkaa jirtuun bayanee, halkaniin baqatane qachaa keessaa bayanee, gara dhooqa Yordaanosiititti gad bu'ane.

⁵ Loltooti Baabilonii ammoo isaan ariitee, dirree Yeriko'ootitti isaan dhaqqaddee Zedeqiya'aa mooticha qadde; isa boojitee, gara qachaa Riiblaa ka lafa Haamaatii keessa jiruu, gara mootii Baabilonii isa geessane; mootichille achitti isatti mure.

⁶ Mootiin Baabilonii ilmaan Zedeqiya'aa iluma isaa duratti Riibla'atti ijeese; qondaaltota Yihuda'aalle mara ijeese.

⁷ Achiin duuba inni gara Baabilonii geessiisaaf, ila Zedeqiya'aa keessaa baasee wodaroo sageettu'uutiin isa hidhe.

⁸ Worri Baabilonii mana mootumma'aatii fi mana kolba'aa mara gubanee dalleya Yerusaalemiille diigane.

⁹ Achiin duuba ajajaan loltoota mooticha eeganuu Nebuzaraadaan worra qachaa keessatti hafe, namoota harka isatti kennatee fi kolbaa dhibii mara wolitti qabee booji'ee gara Baabilonii geesse.

¹⁰ Nebuzaraadaan ajajaan loltoota mooticha eeganuu, namoota hiyyeeyyii waan tokkolle hin qanne garii biyya Yihuda'aatitti lakkise; yennuma san addee muka woyni'ii itti dhaabbatanuu fi fichaa isaaniif kenne.

Ermiyaas Hiikame

¹¹ Mootiin Baabilonii Nebukadnezaar, marroo Ermiyaasii, ajajaa loltoota isa eeganuu, Nebuzaraadaa ajajee,

¹² «Ermiyaas gara keeti fuudhiitii, waan dansaa isaaf godhi; waan inni fedhe mara isaaf godhi malee isa hin miidhin» jedhe.

¹³ Maarre ajajaan loltoota mooticha eeganuu Nebuzaraadaan, sooressi ajajjootaa Nebushaasbaan, ol-aanaan qondaaltotaa Nergaal-Shaarezerii fi qondaaltoti mootii Baabilonii dhibiin marti,

¹⁴ nama erganee, badhinna eeddootaa ta badhinna mana mootumma'aa keessaa Ermiyaas baasane; akaakoon Shaafaanii ilmi Ahiigaamii Gedaaliyaan gara mana isaa akka isa geessuuf itti kennane; maarre innille akkanaa kolbaa ifii woliin achi le'e.

¹⁵ Ermiyaas badhinna eeddootaa ta badhinna mana mootumma'aa keessa mana hidha'aa keessa adoo jiruu, jechi Mootii Waan Maraa gara isaa dhufee,

¹⁶ «Dhaqiitii Ebeed-Melekii nama biyya Itoophiya'aatiin*, «Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade Waaqi Israa'elii: Akkuma qara dubbadhe qananummaa addoo hin te'in badii qachaa kana irratti hin fida; guyyaa san ilti teeti adoo dhaggituu tun hin muummotti.

¹⁷ Guyyaa san ammoo ani si hin hambura malee harka worra sodaattuu-titti dabarfantee hin kennantu.

¹⁸ Ati natti waan addatteef ani dhugumaan si hin hambura; ati milixxee lubbuu hin hatta malee shallaaga'aan hin duutu jedha» jedhiin» jedhe.

40

Ermiyaas Gedaaliyaa Woliin Ture

¹ Ajajaan loltoota mooticha eeganuu Nebuzaraadaan, Raama'atti Ermiyaas hiikeen duuba jechi Mootii Waan Maraa biraa gara Ermiyaasii dhufe; yennaa san Ermiyaas worra Yerusaalemii fi Yihudaa keessaa booji'anee wodaroo sibiilaatiin hidhane gara biyya Baabilonii geessane woliin jiraayyu.

² Ajajaan eeddootaa yennaa Ermiyaas dhagge, qofitti isa baasee, «Mootii Waan Maraa Waaqi keeti lafa tanatti badii akka fidu dubbateeraayyu.

³ Amma badii san itti fideera; waan dubbate sanille muummesseera; sababa isin kolbaan Yihuda'aa cubbuu hujjane isaaf ajajamiisa diddaneef, wonni kun marti isin irratti teete.

⁴ Kunoo ani adha wodaroo sibiilaa harka keeti irraa hiikee gad lakkisaara. Ati na woliin gara Baabilonii dhaquu yoo jaalatte, koy; anille waan dansaa si'iif hin godha; ati na woliin gara Baabilonii dhaqiisa yoo hin barbaadin ammoo hin dhaqin. Kunoo, latti Yihuda'aa marti si dura jirtii, gara jaalatte deemi!» isaan jedhe.

⁵ Ermiyaas deebii adoo hin deebisin, Nebuzaraadaan, «Gara Gedaaliyaa ilma Ahiigaamii, akaakoo Shaafaanii, ka mootiin Baabilonii qachoota Yihuda'aa irratti bulchaa godhe sanii deebi'iitii isa woliin kolbaa odduu le'i

* **39:16 Itoophiyaa:** Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali.

yookiin gara jaalatte deemi» jedhee, kennansa isaaf kennee, galaalle isaaf galaasee gad isa lakkise.

⁶ Maarre Ermiyaas gara Gedaaliyaa ilma Ahiiqaamii, ka Miisphaa jiruu dhagee, isa woliin odduu kolbaa biyyatti hattee le'e.

⁷ Ajajjooti loltootaatii fi loltooti Yihuda'aa ta worra Baabiloniititti harka hin kennatin marti, mootiin Baabilonii ilma Ahiiqaamii Gedaaliyaa biyya irratti bulchaa akka godhe, worra hiyyeeyyii dhiira, dubarti'ii fi ijoollee gara biyya Baabilonii adoo hin booji'amin biyyatti hafane irratti itti gaafatamaa akka godhe yennaa dhage'ane,

⁸ ilmi Nataaniya'aa Ishimaa'el, ilmaan Qaareha'aa Yohaannaannii fi Yonaataan, ilmi Tanhumetii Seraayaan, ilmaan Efaayii nama qachaa Netofiitii fi ilmi Yaazaaniyaa nama biyya Ma'aakii namoota ifii mara woliin gara Gedaaliya'aa Miisphaa dhagane.

⁹ Akaakoon Shaafaanii ilmi Ahiiqaamii Gedaaliyaan worra gara isaa dhagane kanaaf kakatee, «Worra Baabiloniititti harka kennatiisa hin so-daatina'a; lafa tana keessa qabadha'aatii mootii Baabilonii tajaajila'a; wonni dansaalle isiniif hin teeti.

¹⁰ Anille Miisphaa keessa le'ee, worri Baabilonii yennaa as dhufanu addee teessan bu'ee isiniif hin falmadha; isin ammoo midhaan woyni'ii, zayitii ejersaatii fi midhaan muka adda addaa wolitti qabadha'aatii okkote'etti kuufadha'aa qachaa qabattane kana keessa le'a'a» jedhe.

¹¹ Worri Yihudootaa ka Mo'aab, Amooni, Edoomii fi biyya dhibii keessa le'anuu marti mootiin Baabilonii biyya Yihuda'aa keessatti Yihudoota garii akka hamburee fi akaakoo Shaafaanii ilma Ahiiqaamii Gedaaliyaa bulchaa isaanii akka godhe yennaa dhage'ane,

¹² Yihudooti marti addee itti bittinnowane mara keessaa deebi'anee, gara biyya Yihuda'aa, gara Gedaaliya'aa Miisphaa dhufanee, midhaan muka woyni'iitii fi midhaan muka adda addaa bacaa wolitti qabatane.

¹³ Ilmi Qaarehaa Yohaannaanii fi ajajjooti loltoota Yihuda'aa ta worra Baabiloniititti harka hin kennatin marti gara Gedaaliya'aa Miisphaa dhufanee,

¹⁴ «Mootiin Amoonii Ba'aalis si ijjeesiisaaf ilma Nataaniya'aa Ishimaa'el akka sitti erge ati hin beettuu?» jedhaneen; ilmi Ahiiqaamii Gedaaliyaan ammoo waan isaan jedhane hin dhugeeffanne.

¹⁵ Achiin duuba ilmi Qaarehaa Yohaannaan Miisphaa keessatti dhossa'aan Gedaaliya'atti dubbattee, «Nami tokkolle adoo hin beekin ilma Nataaniya'aa Ishimaa'el ani hin ijjeesa; Yihudooti si biratti wolitti qabante marti akka bittinnootuu fi worri biyya Yihuda'aa keessatti hafelle akka baduuf inni maaf si ijjeesuu barbaada?» jedhe.

¹⁶ Ilmi Ahiiqaamii Gedaaliyaan ammoo, ilma Qaarehaa Yohaannaaniif deebisee, «Lakkii, ati waan akkasii hin godhin; marroo Ishimaa'elii wonni ati dubbattu dhuga'aa moti» jedhe.

41

Ishimaa'el Gedaaliyaa Ijjeese

¹ Wogguma san keessatti ji'a torbeesso'oo sanyii moototaa keessaa, ajajjoota loltoota mootichaa keessaa tokko ka te'e, akaakoon Eliishaama'aa ilmi Netaaniya'aa Ishimaa'el, namoota kudhan woliin gara Gedaaliyaa ilma Ahiiqaamii Miisphaa dhufe; isaan Miispha'atti wolitti qabamanee nyaatiisatti adoo jiranuu,

² ilmi Nataaniya'aa Ishimaa'elii fi namooti kudhan ka isa woliin jiranu akaakoo Shaafaanii ilma Ahiiqaamii Gedaaliyaa ka mootiin Baabilonii Yihudaa irratti bulchaa godhe san shallaaga'aan ijjeesane.

³ Ishimaa'el Yihudoota worra Gedaaliyaa woliin Miisphaa jiranu mara, loltoota Baabilonii ta achi jirtulle ijjeese.

⁴ Gedaaliyaan akka ijjeefame nami tokkolle adoo hin beekin, boruuyyaa ganama,

⁵ namooti saddeettam gaddaan areeda haadatane, woyaa ifii tarsiisane, nafa ifii mummurane Shekem, Shiilo'oo fi Samaariyaa irraa kennansa midhaaniitii fi hixaana qabatanee, gara Galma Waaqaa dhufane.

⁶ Ilmi Nataaniya'aa Ishimaa'el Miispha'aa ka'ee isaan qophatiisaaf, bowaa gara isaanii dhufe; inni yennaa isaan bira geye, «Gara Gedaaliyaa ilma Ahiiqaamii kowa'a» isaaniin jedhe.

⁷ Isaan yennaa qachaa seenane ilmi Nataaniya'aa Ishimaa'elii fi namooti isa woliin jiranu isaan ijjeesane boolla bisaaniititti gatane.

⁸ Namoota saddeettama san keessaa nami kudhan ammoo Ishimaa'eliin, «Nuuti qamadi'ii fi garbuu, zayitii ejersaatii fi damma fichaa keessatti dhofanneerra; maganne'e nu hin ijjeesin» jedhane; maarre inni worra kaan woliin isaan hin ijjeenne.

⁹ Boolli bisaanii guddoon ta Ishimaa'el reefa namoota shallaaga'aan ijjeesee keessa buuse sun ta mootiin Yihuda'aa Aasaan mootii Israa'elii Baashaan woliin yennaa lole qochisiise; ilmi Nataaniya'aa Ishimaa'el reefa worra ijjeesee boolla sanitti guute.

¹⁰ Achiin duuba Ishimaa'el kolbaa Miisphaa keessatti hafane mara: ijoollee durraa ta mootichaatii fi worra Miispha'atti hafane ka Nebuzaraadaan ajajaan loltoota mooticha eegannu, akka ilmi Ahiiqaamii Gedaaliyaan isaan bulchu godhe san mara booji'ee, gara biyya Amoonotaa fudhatee deeme.

¹¹ Ilmi Qaareha'aa Yohaannaanii fi ajajjooti loltootaa ta isa woliin jirtu marti yakkaa ilmi Nataaniya'aa Ishimaa'el huje mara yennaa dhage'ane,

¹² loltoota ifii wolitti qabatanee ilma Nataaniya'aa Ishimaa'el loliisaaf dhaqane; isaan baleessa guddaa ka Giibe'on keessaa biratti isa dhaqqabane.

¹³ Kolbaan Ishimaa'el woliin jirtu marti ilma Qaarehaa Yohaannaanii fi ajajjoota loltootaa ta isa woliin jirtu yennaa dhaggane gammadane;

¹⁴ kolbaan Ishimaa'el Miishipa'aa booji'e marti deebi'ane gara Yohaannaanii ilma Qaarehaa deemane.

¹⁵ Ilmi Nataaniya'aa Ishimaa'el ammoo namoota saddeeti woliin isa jalaa miliqanee gara biyya Amoonotaa baqatane.

¹⁶ Achiin duuba ilmi Qaarehaa Yohaannaanii fi ajajjooti loltootaa ta isa woliin jirtu mara woliin, namoota worra ilmi Nataaniya'aa Ishimaa'el ilma Ahiiqaamii Gedaaliyaa Miishipa'atti yennaa ijjeese san worra booji'ee Giibe'on keessaa fide mara: loltoota, dubartoota, ijoolle'ee fi worra mana mootichaa keessa hujanu mara deebifatane.

¹⁷ Jarri tun Worra Baabilonii jalaa miliqiisaaf ka'ane Betlehem bira Kimhaa qubatane; achii ka'ane gara biyya Gibxi'ii deemiisaaf qophowane;

¹⁸ Sababa ilmi Nataaniya'aa Ishimaa'el, ilma Ahiiqaamii Gedaaliyaa, ka mootiin Baabilonii bulchaa godhe ijjeeseef, isaan worra Baabilonii waan sodaataneef, gara biyya Gibxi'ii baqatane.

¹ Achiin duuba ajajjooti loltootaa marti, ilmi Qaarehaa Yohaannaanii fi ilmi Hoshaa'iya'aa Ya'azaaniyaan, kolbaan marti gudda'aa haga diqqa'aatitti gara Ermiyaasii dhufanee,

² «Maganne'e, waan nuuti si kadhannu nu'uuf dhage'i! Nuuti dur nama heddu'u; amma ammoo akkuma ati dhaggitu nama diqqaa qofatti hafe; nu worra hafe kana maraaf gara Mootii Waan Maraa Waaqa keetii daadimadhu.

³ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti eessa akka nuuti deennuu fi maan akka nuuti goonu akka nutti himu, nu'uuf daadimadhu» isaan jedhane.

⁴ Ermiyaasiin raagichi deebisee, «Dansa'a! Akkuma isin na gaafattane gara Mootii Waan Maraa Waaqa keessanii isiniif hin daadimadha; waan Mootiin Waan Maraa jedhu mara tokkolle adoo hin hamburin isinitti hin hima» jedhe.

⁵ Achiin duuba isaan Ermiyaasiin, «Waan akka ati nutti hintuuf, Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti si erge, yoo nuuti hin godhin, Mootiin Waan Maraa ifiifuu dhugaa bayaa addatamaa nu irratti te'uu ti.

⁶ Nu'uuf toltulle yookiin hammaattulle Mootii Waan Maraa Waaqa keenna ka itti si erganne saniif hin ajajanna; akka wonni dansaan nu'uuf teetu, Mootii Waan Maraa Waaqa kanaaf hin ajajanna» jedhane.

Mootiin Waan Maraa Daadimata Ermiyaasiitiif Deebii kenne

⁷ Guyyaa kudhaniin duuba jechi Mootii Waan Maraa gara Ermiyaasii dhufe;

⁸ maarre inni ilma Qaarehaa Yohaannaanii fi ajajjoota loltootaa ka isa waliin jiranu mara, kolbaa mara gudda'aa haga diqqa'aatitti gara isaa akka dhufanu wolitti waamee,

⁹ isaaniin, «Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, akka ani isiniif gaafadhu ka isin itti na ergitane,

¹⁰ «Ani badii isin irratti fide saniin waan gaddeef, yoo isin lafa kana turtane ani isin hin ijaara malee hin diigu; isin hin dhaaba malee hin buqqisu.

¹¹ Mootii Baabilonii ka amma sodaattanu kana hin sodaatina'a! Ani isin waliin waan jiruuf, isin hin qarqaara; harka isaa jalalle'ee isin hin baasa; isa hin sodaatina'a!

¹² Ani isiniif hin marara; innille isiniif mararee gara lafa teessaniititti isin hin deebisa» jedha.

¹³ «Te'uu malee, isin, «Nuuti lafa tana keessa hin teennu» jettanee, Mootii Waan Maraa Waaqa keessaniif yoo hin ajajamin,

¹⁴ akkasuma, «Lakkii, nuuti lafa lola itti hin dhaggine yookiin addee qoonqoo tultulla'aa itti hin dhageennee fi addee itti hin beelonne gara lafa Gibxi'ii dhandhee achi hin leena» yoo jettanne,

¹⁵ yoona, isin worri biyya Yihuda'aa keessatti hattane, jecha Mootii Waan Maraa dhage'a'a! Mootiin Waan Maraa Waan Mara Dade, Waaqi Israa'elii, «Isin biyya Gibxi'ii dhaxxanee achi le'iisaaf yoo murteeffattane,

¹⁶ shallaagaan isin sodaattane achitti isinitti hin dhutti; beelti isin sodaattanelle biyya Gibxi'ii keessatti isin gula hin dhutti; isinille achitti hin duutan.

¹⁷ Worri biyya Gibxi'ii dhagee achi le'iisaaf murteeffate marti shallaaga'aan, beelaa fi dhukkubaan hin du'an; balaa yookiin badii ani isaan irratti fidu jalaa nami jiru'uun hafu yookiin ka miliqu tokkolle hin jiru.»

¹⁸ «Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, Waaqi Israa'elii, «Aari'ii fi mufiin tiyya worra Yerusaalem keessa le'utti akkuma dhangalaate, yennaa isin biyya Gibxi'iititti galtane mufiin tiyya isin irralle'etti hin dhangalaati; isin waan abaarsaatii fi jibbamaa, jecha abaarsaatii fi coora'aa hin teetan. Addee tana deebitanee hin dhaggitanu» jedha» jedhe.

¹⁹ Ee isin worra Yihudaa keessatti hattane, Mootiin Waan Maraa, «Gara biyya Gibxi'ii hin dhaqina'a» isiniin jedheera; anille adha tana akka isin ifi eeggachisiise beeka'a.

²⁰ Isin, «Mootii Waan Maraa Waaqa keenna nu'uuf daadimadhuutii, waan inni si'iin jedhe mara nu'utti himi; nuutille isaaf hin ajajanna» jettanee gara Mootii Waan Maraa Waaqa keessanii yennaa na ergitane, jiruu teessan irratti dokonkora hujjane.

²¹ Maarre ani waan inni natti hime mara adha isinitti himeera; isin ammoo waan inni na ergeeruun, ani isinitti hime maraan Mootii Waan Maraa Waaqa keessaniif haga ammaa hin ajajanne.

²² Amma yoonaa addee dhaxxanee qubatiisaaf barbaaddane sanitti shallaaga'aan, beelaa fi bala'aan akka duutanu beeka'a.

43

Ermiyaas Gara Gibxi'ii Geessane

¹ Ermiyaas jecha Mootii Waan Maraa ka Waaqa isaanii mara ka inni akka inni isaanitti himuuf isa erge san kolbaa maratti himee yennaa fixe,

² ilmi Hoshaa'iyaa Azaariyaan, ilmi Qaarehaa Yohaannaanii fi worri kooru marti Ermiyaasiin, «Ati hin hollitta! Mootiin Waan Maraa Waaqi keenna, «Achi qubatiisaaf gara biyya Gibxi'ii hin dhaqina'a» jettee akka nutti hintuuf gara keenna si hin ergine.

³ Ammoo ilmi Neriya'aa Baaruk akka nuuti harka worra Baabiloniititti dabarfannee kennannee ijjeefannuuf yookiin booji'anee gara biyya Baabilonii akka nu geessanuuf nu irratti si kakkaaseera» jedhane.

⁴ Maarre ilmi Qaarehaa Yohaannaan, ajajjooti loltootaa martii fi kolbaan marti Mootii Waan Maraatiif ajajamanee biyyaa Yihuda'aa keessa le'iisa didane.

⁵ Ilmi Qaarehaa Yohaannaanii fi ajajjooti loltoota marti ammoo, Yihudaa biyya Yihuda'aa keessa le'iisaaf gosa biyya adda addaa addee itti bittinnowane keessaa deebi'anee dhufane mara fudhatanee deemane.

⁶ Akkasuma dhiira, dubartii, ijoolle'ee fi ijoollee mootichaa ta durraa, ta ajajaan loltoota mooticha eeganuu Nebuzaraadaan harka akaakoo Shaafaanii ilma Ahiiqaam Gedaaliya'aatitti lakkisee fi Ermiyaasii raagicha, ilma Neriya'aa Baarukille fudhatanee deemane.

⁷ Maarre isaan Mootii Waan Maraatiif ajajamuu didanee, biyya Gibxi'ii seenanee haga qachaa Taahafeneetii deemane.

⁸ Qachaa Taahafeneetii keessatti jechi Mootii Waan Maraa gara Ermiyaasii dhufee,

⁹ «Dhakoota gugurdaa fuudhiitii, seensuma balbala mana mootumma'aa ta Fara'oonii, ta qachaa Taahafeneetii keessaatitti, adoo Yihudooti dhaggituu lafa faarri loobame itti afame jalatti awwaali.

¹⁰ Achiin duuba isaaniin, «Mootiin Waan Maraa Ka Waan mara Dade, Waaqi Israa'elii: Ani tajaajilaa kiyaa mootii Baabilonii Nebukadnezaar waamee fidee, barcumaa mootumma'aa ka isaa dhakoota amma ani asitti awwaale kana irra hin keya; innille dunkaanii mootummaa ifi dhakoota kana irratti hin dhaabata.

¹¹ Mootiin Baabilonii Nebukadnezaarii dhufee worra Gibxi'ii hin lola; worra duuti itti murante hin ijjeesa; worra boojuun itti murante hin booji'a; worra shallaaga'aan akka du'u itti murante, shallaaga'aan hin ijjeesa.

¹² Inni galma waaqota Gibxi'ii hin guba; waaqota isaaniille hin booji'a; akkuma tisseen woyaa irratti woyaa facaafattu, inni biyya Gibxi'ii biyya ifi irratti ede'atee nageyaan hin deema.

¹³ Inni soodduu galma waaqota adu'uu ka Gibxii keessaa hin caccassa; mana waaqota Gibxi'iille hin guba jedha» jedhiin» jedhe.

44

Badii Waaqota Dharaa Waaqonfatiis Fide

¹ Marroo Yihudoota biyya Gibxi'ii keessa qachaa Miigdo'oo, Taahafenee, Nofitiitii fi Phaaxrosii keessa le'anuu maraaf, jechi Mootii Waan Maraa gara ana Ermiyaasii dhufee,

² Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, Waaqi Israa'elii, «Qachaa Yerusaalemiitii fi qachoota Yihuda'aa mara irratti badii guddoo ani fide isinuu dhaggitanee; kunoo adha isaan diigamanee onanee ka nami keessa hin jirre te'aneeran.

³ Kunille sababa hammeenna isaan hujaneef isaan irratti teete; isaan waaqota dhibii ka isin, abbootiin teessan yookiin isaanuu ka ifiifuu hin beenneef hixaana aarsanee waaqonfatiisaan na aarsaneeran.

⁴ Ani, «Waan jibbisiisaa ani jibbu kana hin hujina'a» jedhee yennaa hedduu tajaajiltoota tiyya raagota isaanitti ergeeraayyu.

⁵ Isaan ammoo na hin caqanne; hin qalbeeffannelle'e; hammeenna ifi irraa hin deebine; waaqota dhibi'iifille hixaana aarsiisa hin lakkinne.

⁶ Tanaaf, aariin tiyya ta bobeettu dhangalaatee, qachoota Yihuda'aatii fi karaa Yerusaalemii irratti bobeetee, akkuma adha dhaggitanu kana diigamanee, ona akka te'anuu goote.

⁷ «Ammalle ani Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dande'u, Waaqi Israa'elii, «Dhiirtii fi dubartiin, ijoolle'ee fi daa'immaan Yihudaa keessatti akka hin hanneef, badii guddoo akkasii maaf ifi irratti fiddan?» jedhee isin gaafadha.

⁸ Addee le'iisaaf dhuttane tana keessatti, waaqota dhibii biyya Gibxi'ii keessaatiif, hixaana aarsiisaan, waanuma harki keessan hujeen maaf na aarsitan? Ifi balleessitanee gosa biyya biyya adda addaa ta lafa irraa oddu'utti waan abaarsaatii fi coora'aa ifi hin gootan.

⁹ Isin hammeenna abbootiin teessan ta durii, moototi Yihuda'aatii fi giittoti isaanii, isinii fi giittoti teessan lafa Yihuda'aatii fi karaa Yerusaalemii keessatti hujjane deetaneertanii ree?

¹⁰ Isin haga adhaa ifi gad hin qanne yookiin ulfinna naaf hin kennine; seeraa fi seerata ani isinii fi abbootii teessan ta duriitiif kennelle hin hordofanne.

¹¹ «Tanaaf, ani Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, Waaqi Israa'elii, badii isin irratti fidee, kolbaa Yihuda'aa ijumaa balleessiisaaf murteeffadheera.

¹² Yihudoota worra biyya Yihuda'aa keessatti baraaree hafe, ka biyya Gibxi'ii dhagee achi qubatiisaaf murteeffate hin fixa; isaan biyya Gibxi'ii keessatti shallaaga'aa fi beelaan hin dhumatan; diqqa'aa haga gudda'aatitti shallaaga'aa fi beelaan hin dhumatan; isaan waan abaarsaatii fi jibbamaa, jecha abaarsaatii fi coora'aa hin te'an.

¹³ Ani akkuma Yerusaalem adabe, worra biyya Gibxi'ii keessa le'ulle shallaaga'aan, beelaa fi bala'aan hin adaba.

¹⁴ Worri Yihudaa keessatti baraaree hafee achi le'iisaaf gara biyya Gibxi'ii dhage, gara biyya Yihuda'aa deebi'ane le'iisaaf halchanulle, worra baqatee deebi'u garii malee, miliqee jalaa bayee yookiin jiru'uun hafee, gara biyya Yihuda'aa ka deebi'u tokkolle hin jiraatu» jedhe.

¹⁵ Achiin duuba wolde'i guddaan kolbaa Yihudootaa ka biyya Gibxi'ii gara kibbaatii fi kaabaa le'anu dhiirti worri niitoti isaanii waaqota dhibi'iif hixaana akka aarsaaranu beekanu marti, dubartooti achi jiranu marti Er-miyaasiin,

¹⁶ «Ergaa ati maqaa Mootii Waan Maraatiin nutti dubbatu tana nuuti caqasuu hin barbaannu!

¹⁷ Nuuti waan hin tolchina jenne mara hin tolchina; akkuma abbootiin teenna, moototi teennaa fi qondaaltoti teenna qachaa Yihuda'aatii fi karaa Yersaaleemii irratti tolchane nuutille mootittii ol-gubba'aatiif hixaana hin aarsina; kennansa daadhii woyni'iille hin dhibaanna*; bara san nuuti sagalee bacaa qannaayyu; akka dansaa leena malee wonni hantuun nu hin dhaqqadduuyyu.

¹⁸ Waaqa dharaa mootittii ol-gubba'aatiif hixaana aarsiisaa fi daadhii woyni'ii dhibaasiisa haga lakkinnee as ammoo waan mara dhanneerra; shallaaga'aa fi beelaan dhumatiisatti jirra» jedhane.

¹⁹ Dubartooti itti dabalane, «Waaqa dharaa mootittii ol-gubba'aatiif hix-aana yennaa aarsinuu fi daadhii woyni'ii yennaa dhibaannu, akka nuuti daabboo fakkii isi'iititti bilcheessinuu fi kennansa daadhii woyni'ii akka isi'iif dhikeessinu dhirsooleen teenna hin beekan» jedhane.

²⁰ Achiin duuba Ermiyaas dhiirotaa fi dubartoota worra deebii tana isaaf kennane maraan,

²¹ «Isinii fi abbootiin teessan ta durii, moototii teessanii fi qondaaltoti teessan, kolbaa lafa sanii qachaa Yihuda'aatii fi karaa Yersaaleemii keessatti hixaana aarsitane Mootiin Waan Maraa waan hin qaabanne seetanii? Mar-roo waan sanii inni dedheera seetanii?

²² Mootiin Waan Maraa hujii teessan hantu'uu fi waan battii isin huj-jane ossuu hin dandeenne; tanaaf latti ontee, akkuma adha jirtu tana lafa abaarsaa ta nami keessa hin jirre teete.

²³ Isin hixaana aarsiisaan Mootii Waan Maraa yakkitanee isaaf waan hin ajajamiiniif, seera, seerataa fi ajaja isaa waan hin eegatiniif, adha akkuma dhaggitanu badiin tun isin irratti dhutte» jedhe.

²⁴ Achiin duuba Ermiyaas kolba'aa fi dubartoota maraan, «Isin Kolbaan Yihuda'aa ta biyya Gibxi'ii keessa leetanu marti jecha Mootii Waan Maraa dhage'a'a!

²⁵ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, Waaqi Israa'elii, «Isinii fi niitoti teessan, waaqa dharaa Mootittii ol-gubba'aatiif: Nuuti dhugumaa hixaana hin aarsina; daadhii woyni'ii hin dhibaanya jettanee waadaa gal-tane muummessitaneertan; dhaqa'aatii waadaa galtane san muummessa'a» jedha.

²⁶ Isin Yihudooti biyya Gibxi'ii keessa leetanu ammoo, jecha Mootii Waan Maraa dhage'a'a! Mootiin Waan Maraa, «Yihudoota worra biyya Gibxi'ii leetanu kana keessaa, nami tokkolle hagara achi: Dhugaa Waaqa jiraata'aa jedhee maqaa kiyya akka hin dhoonne yookiin maqaa kiyyaan akka hin kakanne, ani maqaa kiyya gudda'an kakadheera.

²⁷ Ani kunoo waan hantuu isinitti fida malee waan dansaan isinitti hin fidu; isin Yihudooti worri biyya Gibxi'ii keessa leetanu marti ijjumaa haga baddanutti, shallaaga'aa fi beelaan hin dhumattan.

²⁸ Isin keessaa worri diqqaan shallaagaa jalaa miliqee biyya Gibxi'ii keessaa gara lafa Yihuda'aa hin deebi'a; worri Yihudootaa ka baraaree hafee

* **44:17** *Hin dhibaanna: Yookiin hin dhibaanya*

biyya Gibxi'ii le'iisaaf dhufe duudiin, dubbii ani dubbadhe yookiin dubbii isaan dubbatane keessaa dhugaan tami akka teete hin beekan.

²⁹ Ani Mootiin Waan Maraa addee tanatti isin adabiis, tun beessisa isiniif hin teeti. Tun teetuun yennaa dhaggitane, adabbiin ani: Isin hin adaba jedhe dhugaa akka teetee hin beettan.

³⁰ Mootii Yihuda'aa Zedeqiyyaa diina isa ijjeesiisaaf barbaadu, mootii Baabilonii harka Nebukadnezaariititti dabarsee akkuma kenne, mootii Gibxi'ii Fara'oon Hofraa diinota isaa ka isa ijjeesiisaaf barbaadanutti dabarsee isa hin kenna» jedha» jedhe.

45

Waadaa Waaqi Baaruukiif Gale

¹ Ilmi Yosiyaasii Yehoyaaqiim mootii Yihuda'aa te'ee woggaa arfeesso'ootitti, ilmi Neriya'aa Baaruk waan Ermiyaas afaaniin isatti himuun inni kitaaba maramaa irratti barreesseen duuba, dubbiin Ermiyaas Baarukitti dubbate ta asii gad jirtu:

² Ee Baaruk, Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii,

³ «Ati, «Mootiin Waan Maraa miidhama kiyya irratti gadda waan dabaleef naaf aanne'e; ani aadiisaan dadhabee foora dhabeera» jetteerta.

⁴ «Mootiin Waan Maraa ammoo, «Lafa Yihuda'aa mara irratti waan ijaare hin diiga; waan dhaabe hin buqqisa.

⁵ Ati waan guddoo ifiif halchitaa? Lakkii, ani nama mara irratti badii waan fiduuf, tana hin halchin. Addee dhaxxe maratti ammoo akka ati hin duune hin godha» jedha» jedhe.

46

Ergaa Marroo Biyya Gibxi'ii

¹ Ergaan marroo gosa biyya adda addaatiif gara Ermiyaasii dhutte ta asii gad jirtu:

² Ilmi Yosiyaasii Yehoyaaqiim mootii Yihuda'aa te'ee woggaa arfeesso'ootitti, qachaa karkemeshii laga Efraaxiisii biratti, loltoota mootii Gibxi'ii Fara'oon Nekoonii, ta mootiin Baabilonii Nebukadnezaar injifate irratti, ergaan marroo Gibxi'iitiif dubbatante ta asii gad jirtu:

³ «Wontee teessan gugurdo'oo fi didiqqoo qopheeffadha'a, lolaafille baya'a!

⁴ Farda keessan bixaalladha'a!

Gulle teessan ta sibiilaa keyadha'aatii addee qabadha'a!

Eboo keessan qaradha'aatii

qomoo teessan ta sibiilaa uffadha'a.

⁵ «Mootii Waan Maraa, «Wonni ani dhaggu kun maan?

Isaan bararaqaneeran;

gara duubaa deebi'aneeran;

loltooti isaanii jajjaboon injifatamaneeran;

ifi duuba adoo hin ilaalin

ariiti'iin baqataaran;

bararaqii isaan marseera» jedha.

⁶ Worri akka malee rukkisu,

worri jajjabille jalaa bayuu hin dande'u;

biyya gara kaabaa laga Efraaxiisii biratti,

gufatanee hin jigan.

⁷ Ka akka laga Nayilii ol ka'u,

- ka akka laga guutee irraan dhangala'uu kun eennu?
- ⁸ Gibxi akka laga Nayilii ka ol ka'uu ti;
akka bisaan laga guutee irraan dhangala'uu ti.
Isiin, «Ani ka'ee lafa hin golla;
qachootaa fi namoota isa keessa le'anulle hin balleessa» jetti.
- ⁹ Ee abbootii fardaa, ka'a'a!
Worri garreettaa fardaan harkifamu oottanulle ariiti'iin oofa'a!
Worri Itoophiya'aatii* fi Fuxii ka wontee qabattaneertanu,
goototi Ludii ka guubee qopheeffattaneertanu,
ka'a'aatii duula'a.
- ¹⁰ Guyyaan sun ammoo guyyaa Goota'aa,
Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dande'uu ti;
guyyaa inni diinota ifii haluu bayu;
shallaagaan isaa haga quufutti isaan hin nyaata;
haga dheebuu bawutti dhiiga isaanii hin una.
Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dande'uuf,
biyya gara kaabaa laga Efraaxiisii biratti
ciincaan hin dhikaata.
- ¹¹ Ee kolbaa Gibxi'ii ta akka intala durraa,
gara Giil'aadii dhaqa'aatii qorsa dibatanu barbaadadha'a;
isin akkasumaan qorsa barbaadattan malee,
hin fayyitanu.
- ¹² Gosi biyya adda addaa marti salphinna keessan hin dhage'an;
iyyi teessanille lafa hin guuti;
loltooti loltootaan gufatanee
lamaanuu woliin hin jigan» jedhe.

Dhufa Nebukadnezaarii

- ¹³ Mootii Baabilonii Nebukadnezaarii dhufee biyya Gibxi'ii akka lolu ergaan Mootiin Waan Maraa Ermiyaasitti dubbatte ta asii gad jirtu:
- ¹⁴ «Shallaagaan worra adaala keessan jiru waan fixxuuf,
addee teessan qabadha'aatii qophowa'a!» jedhiitii,
ergaa tana biyya Gibxi'ii keessatti lassi;
worra qachaa Miigdolii, Nofiitii fi Taahafene keessa jiru maralle'eef
lallabi.
- ¹⁵ Loltooti teessan jajjabi maaf jigane?
Mootiin Waan Maraa waan isaan gad darbuuf
dhaabbatuu hin dande'an;
- ¹⁶ Isaan waan guggufatanuuf
wol irratti hin jijjigan;
wol woliin, «Kowa'a gara kolbaa teennaatii fi
gara lafa teennaa deebina;
shallaagaa diina keennaa jalalle'ee baqanna» hin jedhan.
- ¹⁷ Isaan achitti, «Mootii Gibxi'ii Fara'oon, nama afaan calla'aa,
ka carraa ifiititti hin fayyadanne» jedhanee maman.
- ¹⁸ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade,
mootichi, «Ani jiraata'a; mootichi hunnaamessi
ka akka gaara Taaborii ka gaarota oddu'utti mudhatuu,
ka akka gaara Qarmelosii
ka abbaayaa qarqara jiruu fakkaatu hin dhufa.
- ¹⁹ Isin worri biyya Gibxi'ii keessa leetanu

* **46:9** *Itoophiyaa: Afaan Ibrootaatiin Kuushi jedha*

- booji'amiisaaf meya keessan qopheeffadha'a;
qachaan Noofii diigamee, onee
ka nami keessa hin jirre hin te'a.
- ²⁰ Gibxi akka goronsa miidhaguu ti;
faachi isii iddu ammoo gara kaabaatii itti hin dhufa.
- ²¹ Loltooti biyya Gibxi'ii keessatti bitamanee odduu isaanii jiranu,
worri akka dardara coome,
yennaan isaan adabamanuu fi
guyyaan badii isaanii waan dhikaateef,
isaan gara duubaa deebi'anee hin baqatan;
addee dhaabbatanetti ifi irraa dhooggatiisa hin dande'an.
- ²² Diinni isaan loliisaaf akka nama muka muruu,
agaraa qabatee waan itti dhufuuf,
worri Gibxi'ii akka dhudhuufa'aa siissaa,
isaan duraa hin baqatan.
- ²³ Isaan loltoota Gibxi'ii ta akka gongomaa cigga'aa
ciranee hin fixan;
Laakkossi loltoota sanii
akka awwaannisaa bacaa waan te'aneef,
nami isaan laakkowuu hin dande'u.
- ²⁴ Kolbaan biyya Gibxi'ii hin salphatti;
kolbaa gara kaabaatitti dabarfantee hin kennanti» jedha.
- ²⁵ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade Waaqi Israa'elii, «Amoonii
waaqa qachaa Tebesii, biyya Gibxi'ii, moototaa fi waaqota isi'ii, worra
mooticha isi'iititti addatu mara hin adaba;
- ²⁶ Nebukadnezaarii mootii Baabiloniitii fi loltoota isaa worra isaan ij-
jeesiisaaf barbaadanutti dabarsee isaan hin kenna; te'uu malee, gara duraa
ammoo biyyi Gibxi'ii akkuma durii ta nami keessa le'u hin teeti.
- ²⁷ «Ee tajaajiltoota tiyya
sanyii Yaaqoobii hin sodaatina'a;
Ee kolbaa Israa'elii hin rifatina'a!
Ani biyya fago'ootii isin hin fida;
sanyii teessanille
lafa isaan itti booji'amanee jiranu keessaa hin baasa;
sanyiin Yaaqoobii deebitee nageyaan leeti.
Nami isaan sodaachisulle hin jiraatu.
- ²⁸ Ee tajaajiltoota tiyya sanyii Yaaqoobii,
ani isin woliin waan jiruuf hin sodaatina'a!
Gosa biyya adda addaa
ta ani odduu isaaniititti isin bittinneesse mara hin balleessa;
isin ammoo hin balleessu.
Ani haqaan isin adaba malee,
adoo isin hin adabin hin lakkisu» jedha.

47

Ergaa Marroo Biyya Filisxeemotaa

¹ Mootiin Gibxi'ii Fara'oon qachaa Gaaza'aa lolee adoo hin injifatiniin dura
marroo Filisxeemotaa ergaan Mootii Waan Maraa ta gara Ermiyaasii dhutte
ta asii gad jirtu:

² Mootiin Waan Maraa, «Kunoo, karaa Kaabaatiin bisaan guutee dhufiisatti
jira:
«Lolaa jabaa hin te'a;

- lafa sanii fi waan achi keessa jiru mara
qacha'aa fi waan qachaa keessa jiru mara hin golla.
Kolbaan qoonqoo ol qabatee hin iyyiti;
namooti lafa irra le'anuu marti wiiccifatanee hin bowan.
- ³ Sababa hididdeettii kotte fardo'ootii fi
garreettaa diinaa,
sababa kokokkeessa korbo'ootiif,
abbootiin hunna waan dadhadduuf,
ijoollee ifii qarqaariisaaf duubatti hin deebitu.
- ⁴ Filisxeemota mara balleessiisaaf,
worra hafee isaan qarqaaru mara,
Xiirrosii fi Sidoon keessaa
guyyaan ani isaan balleessu dhikaateera;
worra Filisxeemotaa ka hafane,
ka dur oddoola Kaftoriitii dhufane,
ani balleessiisaaf ka'eera.
- ⁵ Kolbaan qachaa Gaaza'aa gaddanee mataa ifii hin haadatan;
kolbaan qachaa Ashiqalonii hin dhumatti.
Isin worri dhooqa keessatti baraaree hattane
haga yoomii gadditanee nafa ifi mummurtan?
- ⁶ «Isin, «Ee shallaagaa Mootii Waan Maraa!
Ati yoom foorfatta?
Gonofaa keetitti deebi'iitii
cadhi jedhii tee'i» jedhaa hin iyyitan.
- ⁷ Ani Mootiin Waan Maraa shallaagaa kiyya
qachaa Ashiqalonii fi
worra qarqara abbaaya'aa akka loltuuf eega ajaje,
attam foorfata ree?» jedhe.

48

Ergaa Marroo Mo'aabii

- ¹ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, Waaqi Israa'elii, Marroo
Mo'aabii,
«Qachaan Nebo'oo waan diigamuuf,
isaaf aanne'e!
Qachaan Kiriyat-Aayimii hin salphata; hin qabamalle'e
kusheen jadduun isaalle hin salphatti;
hin diigantille'e.
- ² Haganaa achi Mo'aab deebitee hin leellifantu;
namooti qachaa Heshiboonii keessatti
Mo'aab deebitee akka hin beekkanne,
«Kowa'a biyya Mo'aabii balleessina» jedhaa mala itti hin dhowan;
worri qachaa Maadmeenii keessaalle hin dhumata;
shallaagaan isaan hin ari'a.
- ³ Iyya Horonaayim keessaa,
ta diigamiisaatii fi ta badii guddo'oo caqasa'a!
- ⁴ Mo'aab hin diiganti;
ijoolleen isi'iille hin iyyiti.
- ⁵ Bowaa gara Luhiitii ol hin bayan;
badiin waan isaan dhaqqaddeef,
wiiccifatanee bowaa qachaa Horonaayimii irraa gad hin bu'an.
- ⁶ Baqadha'aatii, lubbuu teessan hamburadha'a!
Akka kolbaa qachaa Aro'erii ta goomolee keessaa fagaadha'a!

- 7 Hujii teessanii fi durummaa teessanitti waan addatanuuf,
isin hin booji'antan;
waaqi dharaa kemoshille hayyootaa fi
qondaaltota ifii mara waliin hin booji'ama.
- 8 Mootiin Waan Maraa waan dubbateef,
ka qachaa balleessu
qachaa tokko tokkooyyuu loliisaaf hin dhufa;
qachaan tokkolle miliqee jalaa hin bayu;
dhooqii fi latti gooroo irraa hin badan.
- 9 Mo'aab duwwaa waan teetuuf,
soodda itti facaasa'a;
qachaan isi'ii onnee ka nami keessa hin jirre hin te'a» jedha.
- 10 Nami hujii Mootii Waan Maraa hujiisaaf rincicu ka abaarama te'uu ti;
Mootiin Waan Maraa ajajeeruun,
nami shallaagaa ifii
akka dhiiga hin dhangalaanne dhooggatu,
ka abaarama te'uu ti.
- Qachaan Mo'aabii Bade*
- 11 Mootiin Waan Maraa,
«Mo'aab ijoollumma'aa jalqaddee
rakkoo hin beettu;
isiin akka daadhii woyni'ii ta qararantee,
okkotee taan irraa gara okkotee dhibi'ii
adoo hin naqamin turtee,
ta mi'aan isi'ii akkuma qaraa jiruutii fi
ta uddaan isi'ii hin jijjiiraminii ti;
kolbaan isi'ii booji'antee hin beettu.
- 12 Tanaaf guyyaan ani namoota akka okkote'ee
Mo'aab dhudhulchanu ergu hin dhufa;
isaan Mo'aab akka okkote'ee dhuldhuchanee
duwwaa hamburane hin caccassan.
- 13 Akkuma Israa'elooti,
yennaa waaqa dharaa Bet'elitti addatane salphatane,
Mo'aabotille waaqa ifii ka dharaa Kemoshiin hin salphatan.
- 14 Isin kolbaan Mo'aabii,
attam, «Nuuti loltoota hunnaameyyi'i;
nuuti loltoota janna» ifiin jettan?
- 15 Ani mootichi,
Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade,
«Mo'aab hin baddi;
qachaan isi'iille hin qabatama;
dargaggooti isi'ii ta dhiiraa
worri mimmidhaagaan hin ijjeefaman» jedhee dubbadheera.
- 16 Jinnanni Mo'aabii dhikaateera;
badiin isi'iille ariiti'iin hin dhutti.
- 17 «Worri adaala isi'ii jirtanu marti,
worri gurra isi'ii beettanu marti,
«Uleen isi'ii ta bokku'uu hunnaamettiin,
uleen isi'ii ta ulfinnaa attamiin cadde?» jedha'aatii isi'iif bowa'a.
- 18 Mo'aab ka balleessu
isin loliisaaf dhufee,
qachoota keessan ka dalleya dhaka'aa qabu waan diiguuf,

isin worri qachaa Diibonii keessa leetanu,
addee teessan ta ulfinnaa san irraa gad bu'a'aatii
lafa godduu irra tee'a'a!

- ¹⁹ Isin worri qachaa Aro'er keessa leetanu,
karaa irra dhaabbadha'aatii eega'a;
nama baqatuu fi dubartii milixxu,
«Maanti maan te'e?» jedha'aatii gaafadha'a.

- ²⁰ Isaanille, «Mo'aab waan diiganteef salphatteerti.
Isi'iif wiiccifadha'aatii bowa'a!

Akka isiin baddelle laga Aarnonii biratti lallaba'a» hin jedhan.

- ²¹ «Qachoota gooroo irraa keessaa Holoon, Yaahaz, Mefaat irratti,
²² Diibon, Neboonii fi Bet-Diiblaataayim irratti,
²³ Kiriiyat-Aayim, Bet-Gaamul, Bet-Me'on irratti,
²⁴ Keriyotii fi Bozraa irratti, qachoota Mo'aabii ka dhiko'oo fi fagoo jiranu
mara irratti muraan dhutteerti.
²⁵ Gaafi Mo'aabii cabeera; irreen isi'iille caddeerti» jedha.

Salphinna Mo'aabii

- ²⁶ Mootiin Waan Maraa, «Mo'aab na caalaa waan ifi gudditteef, akka
machoottu, diddiga ifii irralle'etti jiddee akka itti kollanu hin godha.

- ²⁷ Ee Mo'aab! Kolbaan Israa'elii tun hanna irratti qabanteertii?
Ati yennaa waan isaanii dubbattu maaf mataa raasaa itti murgita ree?
²⁸ Ee isin worri Mo'aab keessa leetanu,
qachoota keessaa baya'aatii rassaa keessa le'a'a;
akka saphaliisa goda qarqaratti mana ijaaratuu te'a'a.

- ²⁹ «Nuuti koora Mo'aabii,
guddoo bondhooriisa isi'iitii fi ifi saadiisa isi'ii,
kooraa fi hunnaan nama irratti ka'iisa isi'ii,
tuffii isi'iille dhageenneerra.

- ³⁰ Ani Mootiin Waan Maraa koorri isi'ii soba akka te'e hin beeka;
ifi jajiis isi'ii kun womaa hin bayu.

- ³¹ Tanaaf, ani Mo'aabiif hin wiiccifadha;
nama Mo'aab keessa jiru maraaf hin bowa;
worra Qiir-Heresiitiifille hin gadda.

- ³² Ee muka woynii qachaa Siibmaa,
qachaa Yaazeriitiif haga bowu caalaa si'iif hin bowa;
dameeleen teeti haga qarqara abbaaya'aa,
haga abbaayaa Yaazerii banqaaqaneeran.
Ka balleessu dhufee,
midhaan dura bilchaatee fi
unkuruura woyni'ii hin balleessa.

- ³³ Fichaa Mo'aabii ka midhaan dansaa kennu keessaa,
gammadaa fi ililleettiin dhabanteerti;
ani daadhii woyni'ii addee itti cunfanu keessaa balleesseera;
nami gelegeleen cunfu hin jiru;
hogaan jiraatulle,
hogaa gammadaatii moti.

- ³⁴ «Qoonqoon iyya isaanii
Heshiboon keessaa haga El'aaleetii fi
haga Yaahaziititti,
Zo'aari keessaa haga Horonaayimiitii fi

- haga Eglaat Shelshiiya'aatitti hin dhage'anti;
bisaan Niimriimiituu hin goga.
- 35 Ani worra addee waaqonfanna'aa irratti,
kennansa dhikeessu fi
worra waaqota dharaa ifitiif hixaana aarsu,
Mo'aab keessaa hin balleessa.
- 36 Qabeenni Mo'aabiitii fi
kolbaa Qir-Heresii waan badeef,
akka worra suusullee gaddaa afuufaa gadduu,
gadhaan kiyya isaaniif hin gadda.
- 37 Marti isaanii mataa haadatanees,
areeda ifille quxataneeran;
harka ifii mummuratanees,
woyaa gaddaa uffataneeran.
- 38 Akka okkotee nami hin barbaannees,
ani Mo'aab waan casseef,
heellichoo mana Mo'aabii mara irraa fi
woldeennaa kara'aa mara irratti,
bowa malee wonni dhage'amu hin jiru.
- 39 Mo'aab attam attam bututte!
Kolbaan isi'ii attam attam wiiccifatte!
Isiin attam attam salphattee duubatti deebite!
- Mo'aab ta nami itti kollu,
worra adaala isi'ii jiru maratti,
waan hantuu nami dhaggee bararaqu teeteerti» jedha.
- 40 Ammalle Mootiin Waan Maraa,
«Kunoo, akka risaa koola ifii badhisee xinniquu,
diinni Mo'aab irratti hin dhufa.
- 41 Qachooti isi'ii hin qabaman;
kusheen isi'ii jadduun hin fudhataman;
guyyaa san loltooti Mo'aabii,
sodaatanees akka dubartii ciniinsifattuu hin te'an.
- 42 Mo'aab ana Mootiin Waan Maraa irratti waan ifi saaddeef,
mootummaan isi'ii hin baddi.
- 43 Ee kolbaa Mo'aabii,
bararaqi, boollii fi tiyyoon isin dura jirti.
- 44 Bara ani isaan adabu worri bararaqee baqatu
boolla keessa hin bu'a;
worri boolla keessaa utaalee bawu,
tiyyoon hin qabama.
- 45 Qachaa Heshiboonii keessaa ibiddi,
mana Sihoonii mootichaa keessalle'ee bobe'i ibiddaa bayee,
adda Mo'aabii,
buqqii mataa worra hogisee kooruu,
gubee hin balleessa.
- Worri baqatee gara Heshoobii dhufe,
dadhabee gaaddisa isi'ii jala hin dhaabata.
- 46 Ee Mo'aab si'iif aanne'e!
Kolbaan Kemoshii baddeerti;
ilmaan teessan qabamaneeran;
ijoolleen duraa teessanille
booji'amanneeran.

- 47 «Te'uu malee barri ani worra Mo'aab keessaa booji'ame
adde'etti deebisu hin dhufa;
muraan Mo'aab irratti murante as irratti dhumatti» jedha.

49

Ergaa Marroo Biyya Amoonii

- ¹ Marroo Amoonotaatiif Mootiin Waan Maraa, «Israa'el ilmaan dhiiraa hin qabuu?

Ta isa dhaaltu hin jirtuu?
Worri waaqa dharaa Miilkom waaqonfatu
maaf sanyii Gaadii ari'ee,
lafa isaanii qabatee qachaa isaanii keessa qubatte ree?

- ² Tanaaf, guyyaan ani qachaa Amoonotaa Raabaa irratti
iyya lolaa dhageessisu hin dhufa;
qachaan sun diigamee tuulaa bututaa hin te'a;
ollaana adaala isi'ii marti ibiddaan hin gubaman.
Achiin duuba Israa'el worra dur isii ari'ee dhaale,
isiille isaan ariitee hin dhaalti.

- ³ Ee kolbaa Heshiboonii,
qachaan Aayii waan diigameef, wiiccifadha'a!
Ee worra Raabaa keessa leetanu,
waaqi dharaa keessan Miilkom
hayyootaa fi qondaaltota ifii waliin waan booji'amuuf,
woyaa gaddaa uffadha'aatii bowa'a;
dalleya keessa asii fi achi fiiga'a!

- ⁴ Ee worra addatamummaa hin qanne,
isin maaf dhooqa teessan
ta midhaan dansaa baachuun koortan.
Isin durummaa teessanitti addatanee,
«Eentu nu loluu dande'a?» jettan.

- ⁵ Ani Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dande'u,
worri adaala keessan jiru marti
akka isin bararassu hin godha.

Isin martinuu hin ari'antan;
worra baqate san
nami wolitti qabu hin jiru.

- ⁶ «Yennaa diqqo'oon duuba ammoo,
ani boojuu Amoonotaa hin deebisa» jedha.

Ergaa Marroo Edoomii

- ⁷ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade marroo Edoomiitiif, «Qarummaan Temaan keessa hin jirtuu? Gorsii worra qalbeeffannaa qabu jalaa baddee ree? Qarummaan isaanille isaan irraa baddee ree?

- ⁸ Ani sanyii Esaawuu yennaa adabu
balaa isaan irratti waan fiduuf,
isin worri Dedaan keessa leetanu
duubatti deebi'aatii baqadha'a!
Goda qilee keessatti dhokadha'a!

- ⁹ Worri midhaan woyni'ii guuratu gara keessan yoo dhufe,
harcuu irratti hin lakkisanii motii ree?
Hattuulle halkan yoo dhutte,
haguma barbaadde callaa hattii motii ree?

- ¹⁰ Ani ammoo sanyii Esaawuu ijjumaa qullaa hin hambura;

akka isaan dhokatuu hin dandeenne,
addee isaan itti dhokatanu hin mudhisa.
Sanyiin isaa, obboleeyyan isaatii fi
ollaana isaa hin badan;
isaan deebi'anee hin jiraatanu.

11 Ijoollee teessan ta abbaa hin qanne lakkisi;
ani jiruu isaanii hin eega;
haadhotiin hiyyeessaa teessanille
natti addattuu ti» jedha.

12 Mootiin Waan Maraa, «Kunoo worri muduunuu adabbi'ii tiyya keessaa unuun isaanii hin malleeyyuu eega unanu te'ee, isin attam isii keessaa unuu dhaddan ree? Isin adoo hin adabamin hin hattanu; muduunuu adabbi'ii keessaa unuu qaddan.

13 Bazraan diigantee, waan hantuu nami dhaggee bararaqu, waan shashaatii fi abaarsaa akka teetu, qachooti isi'iille martinuu haga bara baraa diigamanee akka hafanu, ani maqaa kiyyaan kakadheera» jedha.

14 Ani ergaa Mootii Waan Maraa biraa, «Ergamaan gara gosa biyya adda addaa ergamee, «Kowa'a, wolitti qabama'aatii Edoomitti duuliisaaf qophowa'a! Isii loliisaafille ka'a'a!» jedhu» takka dhage'eera.

15 Ammalle Mootiin Waan Maraa, «Ani amma gosa biyya adda addaa oddu'utti akka ati diqqaattu, namoota odduulle'etti akka ati tuffatantu si hin godha.

16 «Ee Edoom, ta holla rassa'aa keessa leetu,
ta kooba gubbaa qabatte,
jannuma'aa fi koorri keeti si sobeera.

Mana keeti akka risa'aa qaccee koobaa irratti
ijaarratulle ani achi irraa gad si hin buusa.

17 «Edoom waan hantuu nami dhaggee bararaqu hin teeti;
sababa badii isi'iitiif nami karaa san dabaru marti
maadeffataa itti murga.

18 «Akkuma Sodoomii fi Gomoraan
qachoota ollaa isaanii jiranu waliin badane,
nami tokkolle Edoom keessa hin le'u;
nami tokkolle isii keessa hin jiraatu.

19 «Akkuma neenqi gongomaa ciggaa Yordaanosii keessaa,
gara lafa marra bisile'ee dhufu,
anille dedhuma gara worra Edoomii dhufee,
lafa isaanii keessaa isaan hin ari'a;
nama ifii filadhe isii irratti hin mootonsa.

Nami akka kiyyaa eennu ree?

Nami «Maaf tana goote?» jedhee

na gaafatu eennu ree?

Tisseen na dura dhaabbatee na dhooggu eennu ree?

20 Tanaaf, waan ani Mootiin Waan Maraa

Edoom irratti fidiisaaf yaadeeru,

yaada ani worra Temaan keessa le'u irratti qopheesseeru dhage'a'a!

Ijoolleen isaanii akka ilmoolee hoole'ee

harkifamanee hin fudhataman;

sababa isaaniitiif kaloon isaanii hin baddi.

21 Edoom yenna jiddu

- iyya bowaatiin latti hin tachooti;
iyyi isaanii haga Abbaayaa Diintu'uutitti hin dhage'anti.
²² Kunoo, akka risaa koola ifii badhisee irii gad xinniquu,
diinni Bozraa irratti gad hin bu'a;
guyyaa san loltooti Edoomii sodaattee
akka dubartii ciniinsifattuu hin teeti» jedha.

Ergaa Marroo Damaasqo'oo

- ²³ Mootiin Waan Maraa, Marroo Damaasqo'oo dubbatee:
«Kolbaan qachaa Haamaatiitii fi Arphaadii
oduu hantuu tana waan dhageetteef, sodaatte.
Akka abbaayaa raafantuu
raafantee, foora dhadde.
²⁴ Damaasqoon dadhaddeerti;
baqatiisaaf duubatti deebiteerti;
soda'aan qabantee,
akka dubartii ciniinsifattuu teeteerti.
²⁵ Qachaan leellifamaan,
ka ani itti gammadu sun,
attam ona te'a?
²⁶ Guyyaa san dargaggooti isi'ii karaa qacha'aa keessatti hin ijjeefaman;
loltooti isi'ii marti hin badan.
²⁷ Ani dalleya dhaka'aa ka Damaasqo'ootitti ibidda hin qassiisa;
mana mootumma'aa ka Ben-Hadaadii mootichaalle hin guba» jedha.

Ergaa Marroo Qedaariitii Fi Hazoorii

- ²⁸ Mootiin Waan Maraa marroo Qedaariitii fi marroo mootummoota
Hazoorii ta mootiin Baabilonii Nebukadnezaar injifatee dubbatee, «Ka'a'a;
kolbaa Qedaariititti duula'a; kolbaa lafa karaa aduun baatuu balleessa'a!
²⁹ Dunkaanota isaanii, horii isaanii, gollaa dunkaanii isaanii, meya
dunkaanii isaanii keessa jiru maraa fi gaalota isaanii mara saama'a!
Namooti, «Wonni isin bararassu karaa maraan isinitti dhufeera» jedhanee
hin iyyan.
³⁰ «Ee isin worri Hazoor keessa leetanu,
mootiin Baabilonii Nebukadnezaar
karoora hamaa isin irratti baafatee,
mala isin irratti waan dhowateef,
dafa'aatii fagaadha'aa baqadha'a!
Goda qile'ee keessatti dhokadha'a!» jedha
³¹ Mootiin Waan Maraa,
«Ka'a'aatii gara gosa biyya bidhaa malee nageyaan leetuu,
ta karraa fi dangaraa hin qanne,
ta qofi leetuu dhaqa'aatii lola'a.
³² «Gaalotii isaanii hin saamaman;
loon isaanii marti hin dannabaman;
worra rifeensa mataa ifii jala quxatu hin bittinneessa;
gara maraan badii isaanitti hin fida.
³³ Hazoor bara baraan ontee addee jeedalti keessa leetu hin teeti;
nami tokkolle achi keessa hin le'u;
nami tokkolle achi keessa hin jiraatu» jedha.

Ergaa Marroo Elaamii

³⁴ Akkuma Sedeqiiyaan biyya Yihuda'aa irratti mootii te'een, jechi Mootii Waan Maraa gara Ermiyaasii raagichaa dhufee, marroo biyya Elaamii dubbatee,

³⁵ «Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Kunoo, ani guubee worra Elaamii, meya lolaa ka isaanii, ka hunna isaaniif te'e san hin caccassa.

³⁶ Ani maddii lafaa arfanuu irraa qilleensa Elaam irratti hin fida; gara maddii lafaa arfaniituu isaan hin bittinneessa; biyyi kolbaan Elaamii itti hin booji'anne hin jiraattu.

³⁷ Diinota isaanii worra lubbuu isaanii ijjeesiisaaf barbaadu duratti kolbaa Elaamii hin caccassa; ani aarii tiyya jaddu'uun badii isaanitti hin fida; haga isaan dhumatanutti shallaaga'aan isaan hin ari'a.

³⁸ Ani barcumaa kiyya ka mootumma'aa Elaam keessa hin keyadha; moototaa fi bulchitoota isaaniille hin balleessa.

³⁹ Barri ani boojuu Elaamii deebisu ammoo hin dhufa» jedha» jedhe.

50

Ergaa Marroo Baabilonii

¹ Jechi Mootiin Waan Maraa marroo Baabiloniitii fi marroo kolbaa Baabilonii karaa Ermiyaasii raagichaatiin dubbatte ka asii gad jiru:

² «Gosa biyya adda addaa oddu'utti lassii lallabi!

Beessisa ol kaasiitii oduu tana lallabi!

Waan tokkolle himiisaa adoo hin lakkisin,

«Baabilon hin qabanti;

waaqi isi'ii ka dharaa Beel hin qaanowa;

waaqi isi'ii ka dharaa Maardukille hin bararaqa;

fakkiin waaqota isi'ii ka dharaa hin qaanowan;

waaqoti dharaa ka isi'ii hin bararaqan» jedhii himi.

³ «Gosi biyya gara kaabaa takka dhuttee,

Baabilon loltee lafa isi'ii hin onsiti.

Nami tokkolle achi keessa hin le'u;

namii fi horiin achi keessaa hin baqatan.

Deebi'isa Israa'elii

⁴ «Bara san keessa, yenna san,
kolbaan Israa'eliitii fi kolbaan Yihuda'aa
wolitti qabamanee bowaa
ana Mootii Waan Maraa Waaqa ifii
barbaadatiisaaf hin dhufan.

⁵ Isaan fuula ifii gara Xiyoonii deebifatanee
karaa gara isi'ii geessu gaafataa,
dhufanee gondoороo bara baraa ta hin dedhanne
ana Mootii Waan Maraa woliin hin godhatan.

⁶ «Kolbaan tiyya akka hoolee baddee
ta tissitooti karaa irraa isaan gorsitee,
gaara irra asii fi achi olokamane* te'aneeran.

Gaaraa fi kooba irra asii fi achi raafamanee
addee ifii ta itti foorfatanu dedhaneeran.

⁷ Worri isaan dhaggu marti isaan laxaphi godhan;
diinoti isaanii, «Nuuti womaa isaan hin yakkiine.

* **50:6 Olokamane:** Yookiin joonjane

Isaan Mootii Waan Maraa
 ka abbootiin isaanii ta durii addii godhatte duratti
 cubbuu waan hujaneef,
 tun marti isaan irratti teete» jedhane.

- 8 «Biyya Baabilonii keessaa baqadha'a!
 Lafa Baabilonii keessalle'ee baya'aatii,
 akka korbeessa re'e'ee ka re'ee soressuu te'a'a!
 9 Ani kunoo loltoota gosa biyya adda addaa guddoo
 gara kaabaatii Baabilon irratti hin kaasa.
 Isaan isii lolanee hin qabatan;
 daayi isaanii akka daaya worra lolaan beekkamee
 ka waan itti qabane irraa hin gorsinee ti.
 10 Maarre Baabilon hin saamanti;
 worri isii saamu marti hin durooma.
- 11 «Ee kolbaa Baabilonii! Kolbaa tiyya waan saantaneef,
 gammadanee ilillittaneertaniyyu;
 akka waatolee diida keessa burraaxuu teetanee,
 akka farda wodalee himimmitaneertaniyyu;
 12 amma ammoo qachaan keessan guddaan hin qaanowa;
 latti teessan ta akka haadhaa isiniif teete hin salphatti;
 gammoojjii, lafa godduu, goomolee
 ta gosa biyya adda addaa keessaa gad aante hin teeti.
 13 Sababa aarii Mootii Waan Maraatiif ona teetee hin hatti;
 nami tokkolle isii keessa hin jiraatu.
 Nami karaa Baabilonii dabaru marti hin rifata;
 xixanis waan isii irra dhaqqabeef itti hin kolla.
- 14 «Isin worri guube'een loltanu marti, Baabilon loliisaaf marsa'a;
 isiin Mootii Waan Maraa duratti cubbuu waan hujjeef,
 daaya keessan adoo hin qusatin isi'itti darbadha'a.
 15 Karaa maraan isii loliisaaf iyya'a;
 isiin harka hin kennatti.
 Xelleephon isi'ii hin jiddi;
 dalleenni isi'iille diigameera.
 Mootiin Waan Maraa waan haluu isii bayuuf,
 akkuma isiin worra dhibii irratti hujje,
 akkasuma isii irratti huja'aatii haluu baya'a.
- 16 Nama sanyii facaasuu fi nama midhaan haamu
 Baabilon keessaa balleessa'a.
 Sababa worra shallaaga'aan nama cunqursuutiif,
 nami marti gara kolbaa ifii deebi'uu ti;
 gara lafa ifille baqatuu ti.
- 17 «Kolbaan Israa'elii
 akka hoolee neenqi ari'ee bittinneessu teeteerti.
 Dursee mootiin Asoorii isaan kukkute;
 achiin duuba mootiin Baabilonii Nebukadnezaar
 lafee isaanii caccasse.
- 18 Tanaaf Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade,
 Waaqi Israa'elii, «Kunoo ani akkuma mootii Asoorii adabe,
 mootii Baabiloniitii fi lafa isaalle hin adaba.
- 19 Israa'eloota ammoo

lafa isaanii duriititti hin deebisa;
Qarmelosii fi Baashaan irraa midhaan hin nyaatan;
kooba Efreemiitii fi Giil'aadii irraa
midhaan galfatanee hin quufan» jedha.

- ²⁰ Bara san guyyaa sanitti,
worra baraaree akka hafanu godhe saniif
ani waan araaramuuf,
Israa'el irra yakkaa hin barbaadan;
ammoo womaa irratti hin dhagganu;
Yihudaa irra cubbuu hin barbaadan;
ammoo womaa irratti hin dhagganu» ka jedhu.

Muraa Waaqaa Ta Baabilon Irratti Murante

- ²¹ Mootiin Waan Maraa, «Lafa worra Meraataayimiitiitii fi
worra Pheqod keessa le'u lola'a;
isaan ari'a'aatii, ijjeesa'aa, ijjumaa balleessa'a;
waan ani isin ajaju maraa godha'a.
- ²² Lafa irratti qeexalli lolaa,
badiin guddoolle dhage'anteerti.
- ²³ Baabilon ta duri akka burrisaa nama butuchaa turte,
attam attam caccaddee bututte!
Gosa biyya adda addaa oddu'utti attam attam onte!
- ²⁴ Ee Baabilon,
ani tiyyoo si dura keyeera.
Atille adoo hin beekin qabatanteerta;
ati ana Mootii Waan Maraa irratti waan kaateef,
dhaggantee qabatanteerta.
- ²⁵ Ani Gootaan Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dande'u,
worra Baabilonotaa irratti waan huju waan qabuuf,
mana meya woraanaa banee,
meya woraanaa ta mufii tiyyaa gad baaseera.
- ²⁶ Biyya fagoo irraa kowa'aatii isi'itti duula'a.
Gootaraa isi'ii diiga'a;
akka midhaanii isii tuula'a.
Baraareen adoo hin hafin,
ijjumaa isii balleessa'a.
- ²⁷ Akka dardaroota qalanu,
loltoota isi'ii mara qala'a.
Guyyaan isaan adabamanu waan dhikaateef,
isaaniif aanne'e!» jedha.
- ²⁸ Mootii Waan Maraa Waaqi keenna attam attam akka haluu baye,
marroo Galma ifitiif attam attam akka haluu inni baye,
worri ari'amee lafa Baabilonii keessaa baqatee baye,
Xiyoon keessatti waan isinitti himanu dhage'a'a.
- ²⁹ Mootiin Waan Maraa, «Worra guube'een lolu mara
akka Baabilon lolanu waama'a!
Nami tokkolle miliqee akka hin baane
adaala isi'ii marsa'a.
Isiin ana Mootii Waan Maraa,
Woyyicha Israa'elii irratti waan koorteeff,
akkuma hujii isi'iititti gatii isi'iif kenna'a;
akkuma isiin worra dhibii irratti hujje
isii irralle'etti huja'a.

- 30 Tanaaf dargaggooti isi'ii karaa irratti hin ijjeefaman;
guyyaa san loltooti isi'ii marti hin dhumatan» jedha.
- 31 Gootaan, Mootiin Waan Maraa
Ka Waan Mara Dande'u, «Ee Baabilonii koortu,
ani si irratti hin ka'a!
Guyyaan ati adabantu dhikaateera.
- 32 Ati koorameettiin gufattee hin jidda;
nami ol kaasulle hin jiru;
ani qachaa keeti keessatti ibidda qassiisee,
ibiddi sun waan adaala isaa jiru mara hin guba» jedha.
- 33 Mootiin Waan Maraa ka Waan Mara Dade,
«Kolbaan Israa'eliitii fi kolbaan Yihuda'aa cunqurfanteerti.
Worri isaan booji'e jabeessee isaan qabee,
gad isaan lakkisuu dideera.
- 34 Ka isaan wodu ammoo jaba'a;
maqaan isaa Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dande'u.
Inni lafa isaaniitiif foora kenniisaaf,
jabeessee isaaniif hin falmata.
Worri Baabilon keessa le'u ammoo
foora hin dhaggatu» jedha.
- 35 Mootiin Waan Maraa,
«Worra Baabiloniitii fi worra isii keessa le'u irratti,
bulchitootaa fi qaroolee isi'ii mara irratti lolli ka'uu ti.
- 36 Raagota isaanii ta dharaa irratti lolli ka'uu ti;
isaanille gowwoolee hin te'an.
Loltoota isaanii irratti lolli ka'uu ti;
isaanille hin bararaan.
- 37 Fardaa fi garreettaa fardaan harkifamu ka isaanii irratti,
loltoota biyya ormaa
ta odduu isaanii jiru mara irratti lolli ka'uu ti;
isaanille akka dubarti'ii hin te'an.
Qabeenna isaanii mara irratti lolli ka'uu ti;
isaanille hin saamaman.
- 38 Latti Baabilonii waaqota dharaatiin waan guutanteef,
kolbaan waaqota nama bararassu waan leellifattuuf,
Bisaan isi'ii irratti oolaan hin dhufa;
bisaan isi'iille hin goga.
- 39 «Tanaaf bineensoti goomole'eetii fi
woraabessi achi hin le'an;
guchiille achi keessa hin bulti.
Haganaa achi nami tokkolle isii keessa hin le'u;
dhalootaa haga dhalootaatitti
nami tokkolle achii keessa hin le'u.
- 40 Sodoomii fi Gomoraa
qachoota adaala isaanii jiranu mara waliin
ani Mootiin Waan Maraa akkuma diigee balleesse,
isiille diigee hin balleessa.
Nami tokkolle achi keessa hin le'u;
nami tokkolle achi keessa hin jiraatu.
- 41 «Kunoo, loltooti gara kaabaatii dhufiisatti jiran;
kolbaan biyya takkaa hunnaametti'ii fi moototi hedduun,
qaccee lafaa irraa ka'anee dhufiisatti jiran.

- ⁴² Isaan guube'ee fi woraana qabataneeran;
isaan worra gadhi jabeeyyi'i;
marartiille hin qabanu.
Ee Baabilon, isaan si loliisaaf
fardo'oon gulufaa yennaa dhufanu,
hididdeettiin akka abbaayaa bulphittuu ti.
- ⁴³ Mootiin Baabilonii oduu isaanii dhage'ee,
harki irraa bu'e;
naasu'uun qabamee akka dubartii ciniinsifattuu te'e.
- ⁴⁴ «Akkuma neenqi gongomaa ciggaa Yordaanosii keessaa,
gara lafa marra bisile'ee dhufu,
anille dedhuma gara worra Baabilonii dhufee,
lafa isaanii keessaa isaan hin ari'a;
nama ifii filadhe isii irratti hin mootonsa.
Nami akka kiyyaa eennu ree?
Nami «Maaf tana goote?» jedhee
na gaafatu eennu ree?
Tisseen na dura dhaabbatee na dhooggu eennu ree?
- ⁴⁵ Tanaaf, waan ani Mootiin Waan Maraa
Baabilon irratti fidiisaaf yaadeeru,
yaada ani lafa worra Baabilonii loliisaaf qopheeffadheeru dhage'a'a!
Ijoolleen isaanii akka ilmoolee hoole'ee
harkifamanee hin fudhataman;
sababa isaaniitiif kaloon isaanii hin baddi.
- ⁴⁶ Iyya qabamiisa Baabiloniitiin,
latti hin tachooti;
iyyi isi'iille gosa biyya adda addaa oddu'utti
hin dhage'ama» jedha.

51

Ammalle Muraan Baabilon Irratti Murante

- ¹ Mootiin Waan Maraa, «Kunoo, ani Baabilonitti,
kolbaa isi'ii worra na mormu irratti
qilleensa isaan balleessu hin kaasa.
- ² Baabilon bittinneessee
lafa isi'ii duwwaa godhiisaaf,
ani orma isi'itti hin erga.
Guyyaa badii isi'ii karaa maraan marsanee
isii hin lolan.
- ³ Isiin meya ifii ka lolaa yoo hidhatte,
guubee ifille yoo qopheeffatte,
isinille daaya keessan isi'itti darbadha'a.
Dargaggoota isi'iitiif hin nayina'a;
loltoota isi'ii mara fixa'a.
- ⁴ Isaan lafa Baabilonii keessatti madowanee
karaa keessatti hin du'an.
- ⁵ Latti isaanii ana Woyyicha Israa'elii duratti
yakka'aan ta guutante teetulle,
ani Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade Waaqi isaanii,
Israa'elii fi Yihudaa hin lakkinne.
- ⁶ Baabilon keessaa baqadha'aatii,
lubbuu teessan hamburadha'a!
Sababa yakkaa isi'iitiif hin badina'a.

Yennaan ani Mootiin Waan Maraa
 sababa yakkaa isi'iitiif haluu bayu waan geetteef,
 ani akka hujii isi'iititti gatii isi'iif hin kenna.

⁷ Baabylon harka Mootii Waan Maraa keessatti
 akka muduunuu worqii irraa hujantee ti;
 isiin lafa duudii macheessiteerti;
 gosi biyya adda addaa
 daadhii isi'ii ta woyni'ii unanee,
 maraataneeran.

⁸ Baabylon dedhuma jiddee hin caccaddi;
 isi'iif wiiccifadha'aa bowa'a!
 Dedha hin fayyiti fa'a te'a,
 madaa isi'iitiif qorsa dibattu barbaada'a!» jedha.

⁹ Worri ormaa ka achi keessa le'u,
 «Nuuti Baabylon fayyisiisaaf wodhaanneerraayyu;
 isiin ammoo fayyuu hin dandeenne;
 muraan isii irratti murante
 akka duumensaa ol kaatee,
 gubbaa waan dhaqqaddeef,
 isii lakkinnee,
 tokko tokkoon keenna gara biyya teennaa deenna» hin jedhan.

¹⁰ Yennaa san kolbaan Israa'eliitii fi kolbaan Yihuda'aa,
 «Mootiin Waan Maraa dhugaa waan nu'uuf baaseef,
 kowa'a, waan Waaqi keenna Mootiin Waan Maraa huje
 Xiyoona keessatti lallannaa ti» hin jedhan.

¹¹ Daaya qaradha'aatii,
 Wontee fudhadha'a!
 Yaadi Mootii Waan Maraa
 Baabylon balleessiisa waan te'eef,
 mootota Medoonii itti kakkaaseera.
 Mootiin Waan Maraa haluu hin baya;
 Galma ifiitiif haluu hin baya.

¹² Dalleya Baabylonii diigiisaaf,
 beessisa keessan ol kaasa'a!
 Worra eegu itti jabeessa'a;
 eeddota itti ramada'a!
 Worra gaadu qopheessa'a!
 Mootiin Waan Maraa
 waan kolbaa Baabylonii irratti karoofate,
 hin muummessa.

¹³ Ati ta bisaan hedduu bira leetu,
 ta qabeennaan duroonteertu,
 muummeen teeti dhikaatteerti,
 haganaa achi bu'aa haqa hin te'in hin dhaggattu.

¹⁴ Mootiin Waan Maraa ka Waan Mara Dade,
 ifiin kakatee,
 «Ani dhugumaan namoota akka tuuta* awwaannisaa
 si keessatti hin guuta;
 isaanille si injifatane hin qeexalan» jedha.

Faaruu Galataa Ta Waaqaaf Dhikaattu

¹⁵ Inni hunnaa ifitiin lafa dade;
 qarummaa ifitiin biyya lafaa hundeesse;

* **51:14** Tuuta: Heechaalle hin jedhama.

- hubantii ifitiin ol-gubbaa diriirse.
- 16 Yennaa inni qoonqoo ifii ta akka mandiisu'uu dhageessisu,
bokkeenni ol-gubbaa keessaa hin shookkisa;
inni duumensi qaccee lafaa irraa akka ol ka'u hin godha.
Bokkeya keessa mandiisuu hin buusa;
qilleensalle mana kuusa'aa ka ifii keessaa hin baasa.
- 17 Nami martinuu daalle'ee fi worra beekkumsa hin qanne;
nami worqii baqisiisu marti
waaqota dharaa ka ifii huje saniin fukkifateera.
Fakkiin inni huje ta dharaa ti;
hafuurri keessa hin jiru.
- 18 Isaan waan bu'aa hin qanne,
meya murgo'oo ti;
yennaa muraan itti dhuttu hin badan.
- 19 Waaqi Yaaqoobii ammoo akka waaqota dharaa kanaatii moti;
waan mara ka dade isa;
inni kolbaa Israa'elii gosa addaa akka isaaf teetu filate.
Maqaan isaa Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dade.

Burrisa Mootii Waan Maraa

- 20 Mootiin Waan Maraa «Ee Baabilon,
ati burrisa kiyyaa fi meya woraanaa kiyya.
Ani si'iin gosa biyya adda addaa butucha;
si'iin mootummoota balleessa;
21 si'iin fardaa fi abbootii fardaa butucha;
si'iin garreettaa fardaan harkifamuu fi worra isa oofu butucha;
22 si'iin dhiiraa fi dubartii butucha;
si'iin jaarsaa fi ijoollee butucha;
si'iin dargaggeessaa fi dargaggeettii butucha;
23 si'iin tissitootaa fi hoolee butucha;
si'iin qonnaan bula'aa fi qotiyyoo butucha;
si'iin bulchitootaa fi qondaaltota butucha» jedha.

Adabamiisa Baabilonii

- 24 Mootiin Waan Maraa, «Waan hantuu worri Baabiloniitii fi worri isii
keessa le'u,
Xiyoon irratti hujaneef,
ani iluma teessan duratti gatii isaaniif hin kenna.
- 25 «Ee Baabilon, ee gaara lafa mara balleessitu,
kunoo ani si irratti ka'eera;
ani si loliisaaf harka kiyya si irratti diriirfadhee,
bowwaa rassa'aa irraa gad si hin konkolaachisa;
akka gaara gubatee si hin godha.
- 26 Ati haga bara baraa duwwaa waan teetuuf,
dhakaan roga ijaarsaa,
dhakaan hunde'eelle si keessatti hin dhaggamu.
- 27 «Beessisa lolaa lafa mara keessatti ol kaasa'a!
Gosa biyya adda addaa oddu'utti tultullaa afuufa'a!
Isii loliisaaf kolbaa qopheessa'a!
Mootummaa Araaraatii

- mootummaa Miiniitii fi
 mootummaa Ashkenaasii,
 Baabylon loliisaaf waama'a.
 Ajajaa loltootaa itti fila'a;
 fardoo akka tuuta awwaannisaa itti erga'a.
- 28 Mootota Miidiya'aa,
 bulchitootaa fi qondaaltota isi'ii mara,
 biyya isaan bulchanu mara
 gosa biyya adda addaa tana mara
 isii loliisaaf qopheessa'a.
- 29 Akka nami tokkolle achi hin leene,
 lafa Baabylonii duwwaa godhiisaaf,
 karoorri ani Mootiin Waan Maraa
 isii loliisaaf qopheesse waan muummowuuf,
 latti raafantee hin rommiti.
- 30 Loltooti Baabylonii loliisa lakkisaneeran;
 Kushee jadduu ifii keessa tee'aneeran.
 Isaan hunna dhabanee,
 akka dubarti'ii te'aneeran;
 mana isaaniititti ibiddi qassiifameera;
 dangaraan karra isaaniille caccabeera.
- 31 Qachaan karaa maraan akka qabame,
 mootii Baabiloniititti himiisaaf,
 nama rukkisu gula ka dhibiin,
 nama ergame gula nami ergame ka dhibiin rukkisaa,
- 32 «Malkaan marti qabanteerti;
 addeen itti dhokatanu
 qocceen qarqara bisaanii gubatteerti;
 loltootille bararaxxeerti» jedhan» jedhe.
- 33 Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, Waaqi Israa'elii:
 «Baabylon akka eeddummee
 midhaan itti dhowatanuu hin teeti;
 guyyaan Baabylon akka midhaanii dhowantu
 ariifatee hin dhufa.
- 34 Worri Xiyoona keessa le'u,
 «Mootiin Baabylonii Nebukadnezaar
 akka jawwe'ee nu liqinsee,
 caccassee nu nyaatee,
 akka okkotee duwwaa jirtuu nu godhe.
 Cooma kennaan gadhaa ifii guutatee
 deebisee nu tufe.
- 35 Kolbaan qachaa Xiyoona marti: Wonni nu irratti te'e,
 Baabylon irralle'etti te'uu ti» hin jedhan;
 kolbaan Yersaalemiille, «Dhiigi keenaa akka dhangala'e,
 dhiigi Baabiloniille dhangala'uu ti» hin jedhan.
- 36 «Tanaaf ani Mootiin Waan Maraa kolbaa Yersaalemiitiin:
 «Kunoo ani marroo teessaniif falmadhee
 worra Baabylonii irratti haluu hin baya;
 ani laga isaaniitii fi bisaan isaanii hin gossa.
- 37 Baabylon tuulaa bututaa,
 addee jeedalti itti galtu,
 waan hantuu nami dhaggee bararaqu,
 waan nami ittiin murguu,
 addee nami keessa hin leene hin teeti.

- 38 Kolbaan Baabilon marti
akka neenqaa hin harqan;
akka ilmee neenqaalle hin gurura'an.
- 39 Yennaa isaan waan nyaatanu dhabanee gubatane,
akka isaan unanee machowanu
areertii isaaniif hin qopheessa;
achiin duuba isaan gammadaan hirriiba hamaa
ka deebi'anee hin dammandhe hin rafaan.
- 40 Ani akka buruusota hoole'ee,
akka korbeeyyii hoole'eetii fi akka korbeeyyii re'e'ee
akka isaan qalamanu hin godha.
- 41 Qachaana Baabilonii† attam booji'ame!
Ka biyyi lafaa ittiin koortu attam qabame!
Baabilon gosa biyya adda addaa oddu'utti
attam waan hantuu nami dhaggee bararaqu teete!
- 42 Abbaayaan Baabilon irra hin yaa'a;
danbaliin shookittu isii irra hin dhangalaati.
- 43 Qachooti Baabilonii
ka nami keessa hin leenee fi
ka nami keessa hin deddeebine
lafa godduu goomolee, ona hin te'an.
- 44 Baabilon keessatti waaqa dharaa
ka «Beel» jedhamu hin adaba;
waan inni liqinselle akka diddigu hin godha.
- Haganaa achi gosi biyya adda addaa
gara isaa hin yaa'anu;
Dalleenni Baabiloniille hin jiga.
- 45 Ee kolbaa tiyya isii keessaa baya'a!
Lubbuu teessan hamburadha'a!
Aarii tiyya jadduu jalaa baya'a!
- 46 Oduun lafa irratti yennaa dhage'antuu
addii hin kutatina'a yookiin hin sodaatina'a!
- Bulchaan bulchaa irratti hin ka'a;
hammeennille lafa irratti hin te'a;
oduun tuun barana
ta dhibiille bara dhufu hin dhutti.
- 47 Dhugumaan barri ani waaqa dharaa ka Baabilonii adabu hin dhufa;
latti isi'ii duudiin hin salphatti;
worri ijjeefamane marti achi keessatti hin jigan.
- 48 Diinoti gara kaabaatii dhufanee
Baabilon waan lolanuuf,
ol-gubba'aa fi latti,
wonni isaan keessa jiru martinuu
gammadaan Baabilon irratti hin ilillisan.
- 49 Baabilon namoota biyya lafaa duudii akkuma fixxe,
kolbaa Israa'eliille waan fixxeef
isiille hin baddi.
- 50 Ee isin worri shallaagaa jalaa baatane,
adoo hin turin achii keessaa baya'a;
worri lafa fagoo jirtanu
ana Mootii Waan Maraa qaabadha'a;
Yerusaalemille yaadadha'a.

† 51:41 Sheshaak: Maqaa Baabilonii ka dhibi'i.

- 51 «Isin ammoo, «Worri ormaa addee woyyittii
mana Mootii Waan Maraa waan seenaneef
nuuti waan arraffanneef,
fokkifannee, salphanneerra» jettan.
- 52 «Ammoo barri ani waaqota dharaa
ka Baabilonii adabu hin dhufa;
lafa isi'ii mara irratti
worri madowe hin aada.
- 53 Baabilon haga gubba'aa yoo dhaqqadelle,
kushee ifii jadduu dheeressitee yoo ijaarrattelle,
ani worra lolee isii balleessu isi'itti hin erga.
- 54 «Baabilon keessaa qoonqoon iyyaa,
lafa Baabilonii keessaa
qoonqoon badii guddo'oo hin dhage'anti.
- 55 Ani Mootiin Waan Maraa
Baabilon hin balleessa;
qoonqoo guddoo isii keessaa cadhi hin godha;
qoonqoon diinota isi'ii
ta akka danbalii bisaan guddaa shookkisuu
isii keessatti hin dhage'anti.
- 56 Ani Mootiin Waan Maraa
Waaqa haluu bayu waan te'eef
Baabiloniif akka hujii isi'iititti isi'iif hin kaffala;
worri balleessu isii loliisaaf hin dhufa;
loltooti isi'ii hin qabaman;
guubeen isi'iille hin caccaba.
- 57 Ani Mootichi ka maqaan kiyya,
«Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dade» jedhamu
qondaaltota isi'ii, qaroolee isi'ii,
sooressitoota isi'ii, ajajjoota loltootaatii fi
loltoota isi'ii hin macheessa.
Isaan haga bara baraa rafanee hin dammaqanu.
- 58 Dalleenni Baabilonii yabbichi hin diigama;
karri isi'ii dhedheertuun ibiddaan hin gubatti;
kolbaan isi'ii toluma elootti
eloon kolbaa isi'iille ibiddaan hin gubatti» jedha.
- 59 Zedeqiiyaan mootii Yihuda'aa te'ee woggaa arfeesso'ootitti, itti gaafa-
tamaan waan mooticha qofaaf barbaachisuu, akaakoon Ma'aseya'aa ilmi
Neriya'aa Seeriyaan isa woliin gara Baabilonii yennaa dhage, Ermiyaasiin
raagichi erga asii gad jirtu tana isatti hime:
- 60 Ermiyaas badii Baabilon irratti dhufiisatti jirtu mara, waan marroo
Baabiloniitiif barreeffame mara kitaaba maramaa irratti barreesse.
- 61 Inni Seraaya'aan, «Yennaa Baabilon geette, waan kitaaba kana irratti
barreeffame mara qoonqoo ol qabadhuutii kolba'aaf dubbisi;
- 62 yennaa dubbittu, «Ee Mootii Waan Maraa! Ati addee tana, nami yookiin
horiin haga keessa hin leenetti haga bara baraa ona hin godha jetteerta»
jedhi.
- 63 Yennaa kitaaba maramaa kana dubbittee fixxe, dhakaa itti hidhiitii laga
Efraaxiisii keessa buusi!
- 64 Achiin duuba, «Ani Mootiin Waan Maraa badii isii irratti waan fiduuf,
Baabilon deebitee akka hin kaane hin liqinfanti; kolbaan isi'iille hin jiddi»
jedhi» jedhe.

Dubbiin Ermiyaasii as irratti dhumatte.

52

Jinnana Yerusaalemii

¹ Zedeqiyaan yennaa mootii te'e nama woggaa diddamii tokko ti; inni Yerusaalem keessa tee'ee, woggaa kudhanii tokko bulche. Maqaan haadha isaa Hamutaal; isiin intala Ermiyaasii nama qachaa Liibana'aa ti.

² Zedeqiyaan akkuma Yehoyaaqiimii Mootii Waan Maraa duratti waan hantuu huje.

³ Mootiin Waan Maraa waan isaanitti aareef, kolbaa Yerusaalemiitii fi Yihuda'aa irratti tun marti teete; muummee irratti inni fuula ifii duraa isaan balleesse.

Zedeqiyaan mootii Baabilonii finqile.

⁴ Bara Zedeqiyaan bulche keessa woggaa sagaleesso'oo, ji'a kudhaneesso'oo guyyaa kudhaneesso'ootitti mootiin Baabilonii Nebukadnezaar, loltoota ifii mara fudhatee Yerusaalemitti duule. Inni qacha'aan alatti dunkaanii dhaabatee, adaala qacha'aa marsanee yaabbannoo itti ijaarane.

⁵ Zedeqiyaan mootii te'ee, haga woggaa kudhanii tokkeesso'ootitti, qachaan sun akkuma marfametti ture.

⁶ Wogguma san keessa ji'a arfeesso'oo, guyyaa sagaleesso'ootitti, beelti qachaa sanitti waan hammaatteef kolbaan sagalee nyaattu dhadde.

⁷ Achiin duuba dalleenni qacha'aa cabe; loltooti Baabilonii qachaa marsanulle, loltooti mootii biyya Yihuda'aa halkaniin karra dalleya dhaka'aa lama odduu jirtu, ta oorruu mootichaa biraatiin miliqanee bayane. Isaan gara dhooqa Yordaanosii baqatane.

⁸ Loltooti Baabilonii ammoo, Zedeqiyaan mooticha ariitee, diida Yeriko'oo keessatti isa dhaqqadde; loltooti isaa marti isa lakkittee baqatte.

⁹ Loltooti Baabilonii Zedeqiyaan qaddee, lafa Haamatii keessatti gara Nebukadnezaarii qachaa Riiblaa keessa jiruutitti geessite; inni achitti isatti mure.

¹⁰ Mootiin Baabilonii ilmaan Zedeqiya'aa iluma isaa duratti ijeese; qon-daaltota Yihuda'aa maralle Riibla'atti ijeese.

¹¹ Achiin duuba inni gara Baabilonii geessiisaaf, ila Zedeqiyaan keessaa baasee wodaroo sageettu'uutii isa hidhee haga inni du'utti achuma mana hidha'aa keessa isa turse.

Diigamiisa Galma Waaqaa

¹² Nebukadnezaar mootii Baabilonii te'ee woggaa kudhanii sagaleesso'ootitti, ji'a shaneesso'oo, guyyaa kudhaneesso'ootitti, ajajaan loltoota mooticha eeganuu tajaajilaan mootii Baabilonii Nebuzaraadaan, gara qachaa Yerusaalemii dhufe.

¹³ Inni Galma Mootii Waan Maraa, mana mootumma'aa, mana Yerusaalem keessaa mara gube; mana namoota gugurda'aa mara gubee balleesse.

¹⁴ Loltooti Baabilonii ta ajajaa loltoota mooticha eeganuun sooreffamanu, dalleya dhaka'aa ka qachaa Yerusaalemiititti marfameeru diigane.

¹⁵ Ajajaan loltoota mooticha eeganuu Nebuzaraadaan worra hiyyeeyyii garii, namoota qachaa keessatti hafaneeranu, worra mootii Baabiloniititti harka kennatanee fi worra hujii harkaa beekanu booji'ee, gara Baabilonii geesse.

¹⁶ Inni worra hiyyeeyyii ijjumaa wo hin qanne garii ammoo, muka woyni'ii akka dhaabanuu fi fichaa akka qotanu lafa Yihuda'aa keessatti lakkisee deeme.

¹⁷ Worri Baabilonii utuboota sageettuu irraa hujamane, waan meya irra keyanu ka korboo qabanuu fi waabaa bisaanii ka sageettuu irraa hujamane, ka Galma Mootii Waan Maraa keessa jiranu caccassanee, sageettuu san gara Biyya Baabilonii geessane.

¹⁸ Akkasuma isaan okkotee sageettu'uu, akkaafaa sageettu'uu, waan issaa ittiin dhaanfanu ka sageettu'uu, qorii dhiiga fiffixanu qabattu, mooqa'aa fi meya sageettuu irraa hujame ka Galma Mootii Waan Maraa keessatti ittiin tajaajilanu mara, fudhatanee deemane.

¹⁹ Ajajaan loltoota mooticha eedduu, meya worqi'ii fi meetii irraa hujame mara qorii ittiin dhiqatanu, girgiraa, qorii dhiiga fiffixanu qabattu, okkotee, waan issaa irra keyanu, mooqa'aa fi meya daadhii woyni'ii itti dhikeessanu mara fudhatee deeme.

²⁰ Madaalliin utuboota lamaa ka sageettu'uu, waabaa bisaanii ka sageettu'uutii fi fakkii korommii sageettuu irraa hujamane kudhanii lamaa ka waabaa bisaanii jala jiranu, wonni meya irra keyanu ka sageettu'uu ka korboo qabanuu, ka mootichi Solomoon Galma Mootii Waan Maraatiif hujee hagana hin jedhamu.

²¹ Utubooti lamaan hojjaan tokko tokkoo isaanii ciqilee kudhanii saddeeti; furdinni tokko tokkootuu ciqilee kudhanii lama; keessi isaanille holla qabaatee, rogi afaanii taakkuu afuri furduta.

²² Guutuun qaccee utubaa tokko irraa ciqilee shan dheeratti; marsa guutuu utuba'aa irratti seesa caccoo sageettu'uutii fi sageettuu midhaan muka rumaanii fakkaatuun seefameera. Utubaan lammeesso'oolle akkasuma seefamee hujameera.

²³ Gara tokkoon midhaan akka midhaan muka rumaanii sagaltamii jaatti isaan irratti hujameera; seesi midhaan muka rumaanii fakkaatu ka caccoo irratti marfameeru laakkossi isaanii wolumatti dhibba.

²⁴ Nebuzaraadaan ajajaan loltoota mooticha eedduu, Seraayaa hayyicha sooreessa, hayyicha itti aanaa Sefaaniya'aatii fi eeddota karraa sadiin booji'ee fuudhee deeme.

²⁵ Qachaa keessatti worra hafane keessalle'ee ajajaa loltootaa, gorsitoota mootichaa torba, barreessaa ajajaa loltootaa ka kolbaa lafa sanii duulaaf filuu fi namoota dhibii ka qachaa san keessatti dhaggamanu jaatama fuudhee deeme.

²⁶ Ajajaan loltootaa Nebuzaraadaan, isaan mara gara mootii Baabilonii ka qachaa Riiblaa keessa jiruu geesse.

²⁷ Mootiin Baabilonii lafa Haamaatii Riiblaa keessatti isaan ijjeesise.

Maarre kolbaan Yihuda'aa lafa ifii irraa booji'amanee deemane.

²⁸ Laakkossi namoota mootiin Baabilonii Nebukadnezaar booji'e ka asii gadi jiru: Inni mootii te'ee woggaa torbeesso'ootitti Yihudoota kuma sadii fi diddamii sad booji'e;

²⁹ woggaa kudhanii saddeetesso'ootitti namoota dhibba saddeetii fi soddomii lama Yersaalem keessaa booji'e;

³⁰ woggaa diddamii sadeesso'ootitti, ajajaan eeddota mootichaa Nebuzaraadaan namoota dhibba torbaa fi afurtamii shan booji'e; laakkossi worra booji'amee wolumatti namoota kuma afurii fi dhibba jaa.

Yehoyaakiin Hiikame

³¹ Mootiin Yihuda'aa Yehoyaakiin booji'amee woggaa soddonii torbeesso'ootitti Ewiil-Marodaak Baabilon irratti motii te'e; inni baruma kana keessa ji'a kudhanii lammeesso'oo guyyaa diddamii shaneesso'ootitti, mootii Yihuda'aa Yehoyaakiin mana hidha'aatii hiike.

³² Ewiil-Marodaak gadhi-laafinnaan Yehoyaakiin dubbisee, mootota dhibii ta isa woliin Baabilonii keessa jirtu caalaa barcumaa ulfinnaa isaaf kenne.

³³ Maarre yenna sanii jalqabee Yehoyaakiin woyaa ifii ta mana hidha'aa jijjiiratee, haga jiruu ifii qorii mootichaa keessaa nyaate.

³⁴ Mootiin Baabilonii haga Yehoyaakiin du'utti, guyyuma guyya'aan waan isaaf barbaachisu qooda isaaf baase.

Kitaaba Gadda Ermiyaasii Seensa

Kitaab gadda Ermiyaasii kun dhaloota Kiristoosiitiin dura woggaa dhibba shanii fi saddeettamii jaatti Yersaaleem waan diigantee fi kolbaan isi'iille waan baqatteef wolaloo gaddaa shanan ka wolitti qabatee dhiyaate. Kutaan kitaaba kanaa irra caalaa marroo bowaatii fi gaddaa odeessulle, waan Waaqatti addatiisaa fi addii qabaatiisaa kutaan dubbatulle jira. Wolaloota kana Yihudooti dhaloota Kiristoosiitiin dura woggaa dhibba shanii fi saddeettamii jaatti, badii Yersaaleem irra dhaqqadde qaabbi'iif woggaa wogga'aan guyyoota waaqonfannaa laamaatii fi gadda irratti itti fayyadaman.

Haadhoo dubbi'ii

Gadda Yersaaleemii1:1-22

Adabamiisa Yersaaleemii2:1-22

Adabamiisaa fi addii3:1-66

Diigama Yersaaleemii4:1-22

Daadimata mararti'ii5:1-22

Gadda Yersaaleemii

¹ Yersaaleemiin dur kolbaan keessa guutte attam qofi hatte!

Ka gosa biyya adda addaa oddu'utti guddoo teete,

attam akka haadha hiyyeessaa teete.

Qachoota oddu'utti giittii ta teete,

attam akka garbaa teete.

² Halkan guutuu hin bootti,

imimmaan boqoo isi'ii irra yaati.

Jaalota isi'ii keessaa

ka isii jajjabeessu tokkolle hin jiru.

Jaaloti isi'ii marti isii mormataneeran;

diinalle itti te'aneeran.

³ Kolbaan Yihuda'aa

garbumma'aa fi eloo jaddu'uun rakkattee,

biyya ifii irraa ari'antee,

addee «Teenna» hin jenne,

lafa dhibii keessa leete.

Karaan milixxu ka hin jirre,

diinaan marfante.

⁴ Nami jilaaf gara Xiyoonii dhufu,

waan hin jirreef,

karaan karra isi'ii martinuu duwwaa te'e;

Hayyootille gaddaan aadan.

Durrooti isi'ii hin gadditi.

Xiyoon gadda keessa jirti.

⁵ Diinoti isi'ii isii irratti goottomanee,

badhaadhaneeran.

Bacinna cubbuu isi'itiif,

Waaqi isii rakkise;

Ijoolleen isi'ii diinaan booji'antee,

fudhatanteerti.

⁶ Ulfinni Yersaaleemii marti

irraa deemeera.

Sooreyyiin isi'iille
 akka gadansa beelowee dadhabee,
 worra isa ari'u duraa hin baqannee te'aneeran.

⁷ Yersaaleem rakkatee mana dhaddee
 waan dansaa ifii durii qaabatte.
 Kolbaan isi'ii ammoo diinaan waan injifatanteef,
 nami isii qarqaarulle hin jiru.
 Diinoti isi'iille diigama isi'ititti kollane.

⁸ Yersaaleem cubbuu guddoo hujjee
 xomorootteerti;
 isaan waan duwwaa isii dhagganeef,
 worri isii ulfeessanu marti tuffataneeran;
 isiinuu aadiisaan,
 fokko'oon fuula ifii achi garagalti.

⁹ Xomorummaan isi'ii woyaa isi'ii irratti mudhatti;
 isiin waan hegeri teetu hin beenne;
 jinnanni isi'ii sodaachisa'a;
 ka isii jajjabeessu tokkolle hin jiru.
 Diinoti isi'ii waan isii injifataneef,
 rakkoo isi'ii akka ilaaluuf gara Waaqaa iyyite.

¹⁰ Diinoti Yersaaleemii
 qabeenna isi'ii dadansaa saamane.
 Isiin Galma Waaqaa ka ifii,
 ka Waaqi worri Yihudoota hin te'in
 akka hin seenne dhoogge seenanuun dhaggite.

¹¹ Kolbaan isi'ii marti sagale'eef aaddi;
 lubbu'uun jiraatiisaaf
 qabeenna dadansaa ifii sagale'een jijjiiratti.
 Yersaaleem «Waaqa! Na ilaali;
 salphinna kiyya duudiille dhaggi!

¹² «Isin worri karaa tartanu,
 isiniif womaayyuu te'uu dhaddulle,
 ka Waaqi guyyaa mufii jaddu'uu natti fide,
 rakkinna kiyya kana ka fakkaatu jiraa ree?
 Me ilaala'aatii, dhagga'a!

¹³ «Waaqi ol-gubbaa irraa ibidda erge;
 ibiddille lafee tiyya keessa gube.
 Inni tiyyoo miila kiyyatti afee,
 duubatti na deebise.
 Inni gofi na lakkisee,
 guyyaa guutuu na gaggasse.

¹⁴ «Inni waanjoo cubbuu tiyyaa wolitti hidhee,
 morma kiyya irra keyeera.
 Isiin guddoo waan ulfaattuuf
 hunna na dhooggite.
 Waaqi diinota ani dande'ee ifi irraa hin dhooggannetti

dabarsee na kenne.

- 15 «Waaqi loltoota jajjaboo ani qabu dhidhiiteera;
inni dargaggoota tiyya balleessiisaaf loltoota erge;
kolbaa tiyya akka midhaan woyni'ii cunfe.
- 16 «Wonni ani imimmaan tiyya
dhangalaasee bowuuf tana:
ka na jajjabeessu waan na irraa fagaateef,
ka na jabeessu hin jiru;
Diinni waan injifateef,
ijoolleen tiyya qofi hatteerti» jetti.
- 17 Xiyoon harka ifii badhitteerti;
ka isii jajjabeessu ammoo hin jiru.
Ollooti isi'ii duudiin sanyii Yaaqoobiititti
diinota akka itti te'anuu Waaqi ajajeera.
Yerusaalem odduu isaaniititti xomorootteerti.
- 18 Yerusaalem, «Anattuu ajaja isaa dide malee,
Waaqi sirrii godhe.
Isin kolbaan marti dhage'a'a; rakkoo tiyyaalle ilaala'a;
dargaggooti tiyya dhiiraa fi dubartiin marti booji'amaneeran.
- 19 «Ani jaalota tiyya mara waammadhe;
isaan ammoo na qarqaaruu didatane.
Hayyootaa fi sooreyyiin tiyya
lubbuu ifii jiraachisiisaaf, sagalee adoo barbaadatanuu
karaa qacha'aa keessatti du'ane.
- 20 «Waaqa kiyya, attam akka rakkadhee,
keessi kiyya laalatee,
gadhaan kiyya raafame ilaali;
kolbaa tiyya alatti shallaagaan,
mana keessatti duuti fixiisatti jirti.
- 21 «Kolbaan aadiisa kiyya dhageetteerti;
ammoo eennulle na hin jajjabeessine.
Diinoti kiyya marti rakkoo tiyya dhage'anee,
waan ati na irratti gootetti gammadaneeran.
Guyyaa jette san fidiitii,
isaanille akka kiyya te'anuu ti.
- 22 «Hammeenni isaanii marti si duratti mudhatuu ti;
akkuma cubbuu tiyyaaf na adadde isaanille adabi.
Ani guddoo waan aadeef,
gaggabeera» jetti.

2

Adabamiisa Yerusaalemii

- 1 Attam attam Waaqi mufii ifitiin
Xiyoonitti duumensa uffise!
Guddinna isi'iille ol-gubbaa irraa

- gad lafatti darbe.
 Xiyoona ijjata miila isaa akka teete,
 guyyaa mufii ifii isii hin qaabanne.
- ² Waaqi bultoo Israa'elii mara
 marartii malee balleesse.
 Kushee Yihuda'aa mufii ifitiin diigee balleessee,
 Mootummaa'aa fi bulchitoota isi'ii
 gad lafatti gatee salphise.
- ³ Mufii ifii jaddu'uun,
 hunna Israa'elii mara dhoogge.
 Diinni yennaa isaanitti dhufelle,
 gargaaruu didate.
 Akkuma bobeenni ibiddaa,
 waan adaala isaa jiru mara gubu,
 Waaqi Israa'el gube.
- ⁴ Inni akka diinaa daaya ifii itti qajeelfate;
 harka middicha ifille qopheeffate.
 Worra ila namaatitti tolu duudii,
 akka diinaa ijjeese.
 Dunkaanii kolbaa Xiyoonii irratti mufii ifii,
 akka ibiddaa isaan irratti gabbise.
- ⁵ Waaqi akka diinaatitti,
 Israa'el balleesse;
 inni kushee isi'ii maraa fi
 mana mootummaa isi'ii mara balleesse.
 Kolbaa Yihuda'aa irratti
 bowichaa fi gadda bira dabarse.
- ⁶ Galma ifii akka gosee fichaa keessaa
 diigee balleesse;
 Waaqi jilaa fi Sanbati Xiyoona keessatti
 akka dedhamanu godhe.
 Inni mufii ifii jaddu'uun
 mootichaa fi hayyicha salphise.
- ⁷ Waaqi addee ciincaa ifii didee,
 Galma ifille lakkise.
 Dalleya mana mootummaa isi'ii
 harka diinaatitti dabarsee kenne;
 akkuma guyyaa jilaatitti godhamu,
 Galma Waaqa keessatti diinni qeexale.
- ⁸ Waaqi dalleya qachaa Xiyoonii diigiisaaf murteessee
 wodaroo miki'ii* buuseera.
 Inni balleessiisaaf
 harka ifii irraa hin deebifanne.
 Xelleepho'oo fi dalleya isi'ii
 wolumatti diigeera.
- ⁹ Balbalti karra isi'ii marti awwaalante,
 danqaraan isi'iille caccabee bade.

* **2:8** Wodaroo miki'ii: Ta dheerinnaa fi badhinna woyii haga ittiin ilaalanu.

Mootichii fi gondaaltoti isi'ii ari'amanee
 gosa biyya dhibi'ii odduu jiran;
 Haganaa achi seerri hin jiraatu;
 raagoti isi'iille Waaqa irraa
 mudhii hin dhagganu.

¹⁰ Jaarsoleen qachaa Xiyoonii
 mataa ifiititti bukuu[†] firfirfatanee,
 woyaa gaddaa uffatanee,
 cadhi jedhanee lafa tee'ane.
 Durri qachaa Xiyoonii
 gaddaan lafa ilaalti.

¹¹ Kolbaan tiyya waan fixanteef,
 ijoolle'ee fi annoolleen
 karaa qacha'aa irratti waan gaggabaneef
 bowiisaan ilti na jaamaarti.
 Keessi kiyya na laalatee,
 addii kutadhe.

¹² Ijoolleen akka loltoota madoottee,
 karaa qacha'aa irratti gaggabanee,
 «Sagale'ee fi bisaan» meet jedhaa,
 harka haadha isaanii irratti du'an.

¹³ Ee Yerusaalem, maan siin jedha?
 Maani'iin wol si qixxeessa?
 Xiyoonii tiyya, akka si jajjabeessuuf,
 maaniin wol si fakkeessa?
 Badiin si irra dhaqqadde akka abbaaya'aa badho'o;
 eentu si fayyisuu dande'a?

¹⁴ Raagoleen teeti
 mudhii dharaa ta bu'aa hin qanne si'iif dhaggite.
 Mudhii dharaatii fi dokonkora si'iif dhaggite malee,
 yakkaa teeti si'itti ifa baasanee
 badii si'itti dhufaartu si'i irraa hin oolchine.

¹⁵ Worri karaa dabaru marti
 cooraa harka sitti dhowaa, mataa ifi raasaa,
 «Yerusaalemiin tun ta shaggummaa guutuu qadduu fi
 qachaa biyyi lafaa duudiin itti gammaddee motii?» jedhan.

¹⁶ Diinoti keeti marti afaan bananee si'itti cooran.
 Ilkaan ciniinnatane, «Yerusaalem balleessine.
 Guyyaan nuuti eeggataa turre kana;
 amma bira geennee dhaggine» jedhan.

¹⁷ Waaqi waan yaade muummesse;
 jecha ifille guute.
 Akkuma dur murteesse marartii malee si balleessee,
 hunna diinota keetii jabeessee,
 jinnana keetitti akka gammadanu godhe.

[†] **2:10** *Bukuu:* Yookiin awwaar.

- 18 Kolbaa qachaa Xiyoonii,
gara Waaqaa iyya'a!
Dalleya qachaa Xiyoonii,
imimmaan teeti halkanii fi guyyaa
akka lagaa yaatuu ti;
hin cadhisin;
boyiisalle hin lakkisin.
- 19 Halkan guutuu yenna yenna'atti ka'ii iyyi!
Waan gadhaa keeti keessa jiru,
Waaqa duratti dhikeessi.
Lubbuu ijoollee teetii,
ta qaxxaamura karaa irratti
beelaan gaggabaneef,
daadimanna'aan harka keeti gara Waaqaa ol kaasi.
- 20 Yersaalem, «Ee, Waaqa, kunoo ilaali!
Kolbaan ati akkana gooteertu jirtii?
Dubartooti annoolee ifii deyaane nyaatanuu tii?
Hayyootii fi raagoti
Galma Waaqaa keessatti ijjeefamanuu tii?
- 21 «Dargaggootii fi maanguddooti,
karaa irratti jigane du'aneeran.
Dargaggooti dhiiraatii fi dubarti'ii
shallaaga'aan ijjeefamaneeran.
Guyyaa mufii teetii
marartii malee isaan qalte.
- 22 «Akka guyyaa jilaa,
diinota kiyya adaala mara irraa waanteerta.
Guyyaa mufii Waaqaa,
ka miliqe yookiin jiru'uun ka hafe hin jiru.
Ijoollee ani uumadhee guddifadhe
diinni kiyya na jalaa fixe» jedhi.

3

Adabama, Cubbuu Irraa Deebi'iisaa Fi Addii

- 1 Ani nama ulee mufii Waaqaatiin,
adabamee rakkinna dhagge.
- 2 Inni addee ifi hin jirre,
dukkanatti na ari'e.
- 3 Inni dhugumaan guyyaa mara deddeebi'ee,
harka ifitiin na adabe.
- 4 Inni foonii fi gogaa kiyya dulloonsee,
lafee tiyyalle caccasse.
- 5 Inni na marsee,
rakkinna hadhowa'aa fi laaleffata keessa na galche.
- 6 Inni akka worra dur du'ee awwaalamee,
dukkana keessa akka le'u na tolche.
- 7 Akka ani hin baaneef,

- dalleya marsee natti ijaaree,
wodaroo sibiilaa ulfaattu'uun na hidhe.
- ⁸ Qarqaarsaaf itti iyyadhulle,
na caqasuu dide.
- ⁹ Karaa kiyya dhaka'aan duuchee,
daandii tiyyalle daddasse.
- ¹⁰ Inni akka doobbaa* ciisee na gaaduutii fi
akka neenqa dhokaata jiruu ti.
- ¹¹ Inni karaa irraa na harkisee, kukkutee,
qarqaarsa malee na lakkise.
- ¹² Guubee ifii dhisee,
itti qajeelfata daaya ifii na godhe.
- ¹³ Inni daaya subba ifii keessaa luqqisee,
kalattii tiyya woraane.
- ¹⁴ Kolbaan tiyya marti natti kollitee,
guyyaa guutuu weeddu'uun natti murgite.
- ¹⁵ Inni rakkinnaan jiruu tiyya hadheessee,
waan akka hargiisaa na quusse.
- ¹⁶ Inni cabbi'iin ilkaan kiyya caccassee,
bukuu keessatti na gangalche.
- ¹⁷ Ani nageya dhabee,
gammadi maan akka te'e dedhe.
- ¹⁸ Tanaaf ani «Jabeenni kiyya,
addiin ani Waaqa irraa eegadhu marti baddeerti» jedhe.
- ¹⁹ Rakko'oo fi daaqa kiyya qaabatiis,
akka qararu'uutii fi hadhoottu'uu natti teeteerti.
- ²⁰ Ani yennaa tana qaabadhu mara,
mataa buusa.
- ²¹ Teetulle yennaa waan tokko qaabadhu,
addii qaba:
- ²² Jaalalli Waaqaa ka bara baraa waan te'eef,
marartii isaa ta dhuma hin qanne irraa ta kaate
nuuti badiisa dhanne.
- ²³ Jaalallii fi marartiin isaa barii mara haareya;
addatamummaan isaa guddo'o.
- ²⁴ Ani ifiin, «Waaqi qooda kiyya;
tanaaf isatti addadha» jedhe.
- ²⁵ Waaqi worra addi'iin isa eegatuuf,
worra isa barbaaduuf dansa'a.
- ²⁶ Tanaaf nami cadhisee
fayyisiisa Waaqaa eegatiis dansa'a.
- ²⁷ Nami bara dargaggumma'aatitti
waanjoo ba'atiisa barachuun dansa'a.
- ²⁸ Yennaa Waaqi waanjoo isa ba'achiise,
qofii ifii cadhisee tee'uu ti.
- ²⁹ Ammalle addiin jiraatuu waan dandeettuuf,

* **3:10** Doobbaa: *Bineensa hamaa iyyaa fakkaatu tokko.*

- ifi gad qabuu ti.
³⁰ Nama isa kabaluuf boqoo ifii kennuu ti;
 arraballe fudhatuu ti.
- ³¹ Waaqi haga bara baraa isa hin gatu.
³² Inni nama gaddisiisulle,
 akka jaalala ifii ka bara baraa gudda'aatitti marartii qaba.
- ³³ Inni nama rakkisu'uu fi gaddisiisu'utti hin gammadu.
- ³⁴ Hidhantooti biyya tokkoo
 yennaa dhiitamanu,
³⁵ Waaqa Ol-Aanaa duratti
 mirgi ilmaan namaa yennaa dhooggamu,
³⁶ Haajaan nama tokkoo haqa yennaa dhabu,
 Waaqi kana hin dhagguu?
- ³⁷ Waaqi adoo hin ajajin,
 ka dubbatee woy godhuu dande'u eennu?
- ³⁸ Wonni dansa'aa fi hantuulle
 ajaja Waaqa Ol-Aana'aatiin teetii motii ree?
- ³⁹ Nami adoo hin du'in
 sababa cubbuu ifitiin
 yoo adabame maaf gunguma ree?
- ⁴⁰ Karaa keenna qorqorree ilaallee,
 gara Waaqaa deebinnuu ti.
- ⁴¹ Kowa'a gadha'aa fi harka keenna
 gara Waaqa ol-gubbaa jiruu ol kaannee,
- ⁴² «Nuuti ajaja keeti didannee, jallannee
 atille nu'uuf hin araaranne.
- ⁴³ «Ati aari'iin guutantee, nu ariitee,
 marartii malee nu ijjeette.
- ⁴⁴ Daadimannaan teenna si bira akka hin geenne,
 duumensaan ifi gollatte.
- ⁴⁵ Gosa biyya adda addaa oddu'utti
 xuri'ii fi huuraa nu goote.
- ⁴⁶ «Diinoti keenna marti
 afaan bananee nutti murgane.
- ⁴⁷ Soda'aa fi boolla bu'iis,
 diigamaa fi badiin nu dhaqqaddeerti» hin jenna.
- ⁴⁸ Kolbaan tiyya waan badeef
 imimmaan ila tiyyaa akka lagaa lolaati.
- ⁴⁹ Imimmaan tiyya yennaa mara lolaati,
⁵⁰ Tun haga Waaqi ol-gubbaa irraa gad
 ilaalee na dhaggutti teeti.
- ⁵¹ Waan diinni kolbaa qachaa Yerusaalemii irratti godhe
 yennaa dhaggitu gadhaan kiyya hin gadda.
- ⁵² Diinoti kiyya ka sababa malee na jibbanu
 akka gororri'ii na adansane.

- 53 Jiru'uunuu boollatti na gatanee
afaan boollaa dhaka'aan cufane.
- 54 Bisaan mataa kiyya irra dacha'ee,
ani «Du'aara» jedhe.
- 55 Qilee boollaa keessaa,
maqaa keeti waammadhe.
- 56 Ati gaaffii tiyya dhageetteertaa,
yennaa ani qarqaarsaaf sitti iyyadhu,
gurra keeti hin qabatin; ammoo furii naa kenni!
- 57 Yennaa ani si waammadhe,
ati na bira dhuttee, «Hin sodaatin!» naan jette.
- 58 Goottaa kiyya! Haajaa kiyya fudhattee,
lubbuu tiyya wodatte.
- 59 Goottaa kiyya!
Daba na irratti hujame dhaggiteerta,
ati naaf muri!
- 60 Haluu diinoti na irratti qabanuu fi
mala isaan na irratti dhowane
mara dhaggiteerta.
- 61 Ee waaqa! Murgoo isaan natti murgane,
mala isaan natti dhowane dhageetteerta.
- 62 Guyyaa guutuu diinoti kiyya,
na irratti hasaasaa, gunguman.
- 63 Kunoo isaan yennaa tee'anuu fi ka'anuu mara,
weeddu'uun natti murgan.
- 64 Ee Waaqa!
Akka hujii isaaniititti isaaniif kenni!
- 65 Abaarsi keeti akka isaanitti dhufu,
mataa isaanii jabeessi!
- 66 Waaqa kiyya! Aari'iin isaan ari'iitii,
Biyya lafaa irraa isaan balleessi.

4

Diigama Yerusaalemii

- 1 Worqiiin attam calalaqa ifii dhaddee,
worqiiin qulqulluun attam jijjiirante!
Dhakaan Galmi Waaqaa ittiin ijaarame
attam karaa irratti bittinnowe!
- 2 Ilmaan Xiyoonii worri dur
akka worqii gatii guddo'ootitti ilaallamanu
amma attam akka faara
harka namaatiin hujamee te'ane!
- 3 Jeedaltinuu* ilmee ifii
harma hoosifatti,
kolbaa tiyya ammoo akka guchiin gammoojji'ii
ilme'etti gadhaa jabaatu teeteerti.

* 4:3 Jeedalti: Ukkullolle hin jedhanti.

- ⁴ Dheebuu bisaaniitiin
arrabi ijoolle'ee laagada'atti goge.
Jjoolleen sagalee kadhatti;
ammoo ka itti kennu hin jiru.
- ⁵ Kolbaan dur waan dansaa nyaataa turte
karaa irratti beelaan dhumatte;
worri dur woyaa dhiillee uffatee guddate
amma tuulaa daadha'aa irra irkate.
- ⁶ Adabamiis kolbaa tiyyaa
adabamiisa Sodoom,
harki nama tokkoolle adoo hin tuqin
dedhuma badde san caala.
- ⁷ Sooreyyiin isaanii cabbii caalaa calalaqanee,
aanan caalaa addaatan;
nafi isaaniille dooqa caalaa dhiille'e;
akki dansummaa isaaniille akka dhakaa Safirosii tola.
- ⁸ Amma fuulli isaanii cilee caalaa gurraachoweera;
nami karaa irratti isaan beekuuyyuu hin jiru.
Gogaan isaanii shuntuuratee lafe'etti maxxanee,
akka muka gogee te'eera.
- ⁹ Worra midhaan ficha'aa dhabee
suutuma suutaan
beelaan du'ee mannaa,
worra shallaaga'aan du'e woyya.
- ¹⁰ Badiin kolbaa tiyyatti yennaa dhutte
dubartooti gadhi-laafeyyiin
ijoollee ifii harka ifiitiin
nyaatiisaaf iffeelane.
- ¹¹ Waaqi aarii hantuu ifii buusee
hundee isi'ii balleessiisaaf,
Xiyoonitti ibidda gabbise.
- ¹² Moototi lafaalle te'ee kolbaan biyya lafaa,
diinoti yookiin nyaaphi karra dalleya Yerusaaalemii
seenuu akka dande'anuu hin dhugeeffanne.
- ¹³ Te'uu malee,
sababa cubbuu raagota isi'iitii fi
yakkaa hayyoota isi'ii
dhiiga worra yakkaa hin qannee
dhangalaasaneef tun teete.
- ¹⁴ Isaan dhiigaan waan battowaneef
nami woyaa isaaniituu tuqu hin jiru.
Isaan akka balla'aa
karaa irra titimisane.
- ¹⁵ Namooti «Isin worri battoottane, achi deema'a!

Nu hin tuqina'a» jedhanee isaanitti iyyane.
Yennaa isaan baqatanee joonjane,
kolbaan gosa biyya adda addaa,
«Haganaa achi isaan as turuu hin dande'an!» jedhane.

¹⁶ Waaqi ifumaafuu isaan bittinneesse;
inni deebi'ee isaan hin ilaalu.
Hayyooti hin kabajantu,
jaarsoleelle fudhatama hin qabaattu.

¹⁷ Akkasuma qarqaarsa adoo eegannuu
ilti nu dadhadde;
gosa biyya nu qarqaaruu hin dandeenne irraa
qarqaarsa eegane.

¹⁸ Diinoti keenna waan nu gaadanuuf
kara'aayyuu deemiisa hin dandeenne.
Muummeen teenna dhikaattee,
barri keenna waan hobba'eef,
guyyooti keenna laakkossatti galeera.

¹⁹ Diinoti keenna
risaa caalaa ariifatan;
gaara irra nu ari'anee,
goomolee keessalle'etti nu gaadane.

²⁰ Ka Waaqi nu'uuf muude,
ka nuuti, «Hafuura jiruu teennaa ti;
gaaddisa isaa jalatti
gosa biyya adda addaa odduu hin leena» jenne,
boolla isaan nu'uuf qotane keessatti qabame.

²¹ Isin kolbaa qachaa Edoomii,
worra biyya Uzii keessa leetanu,
gammada'aa ilillisa'a;
ammoo muduunuun mufii Waaqaa
isinitti dhufaarti;
isin machoottanee qullaa deentan.

²² Kolbaa Xiyoonii!
Adabbiin teessan hobbaateerti;
Waaqi haganaa achi
boojuu keessa akka leetanu isin hin godhu.
Ee kolbaa Edoomii,
inni yakkaa teessan hin adaba
cubbuu teessanille qaaleyatti baasa.

5

Daadimata Marartii Dhaggatiisaaf Dhikaate

¹ Ee Waaqa, waan nu irratti te'e qaabadhu;
kunoo, salphinna keennalle dhaggi.

² Qabeenna keenna ormi,

mana keenna alagaan fudhate.

- ³ Nuuti ijoollee worri irraa du'e,
ta abbaa hin qannee teeneerra;
haadhotiin teennalle
haadha hiyyeessaa te'aneeran.
- ⁴ Bisaan unnuuf hin kaffalla;
qoraanille hin bitanna.
- ⁵ Akka horii waanjoo itti hidhanee
oofamiisaan guddoo dadhanneerra;
fooralle nu dhoogganeeran.
- ⁶ Sagalee quufiisaaf,
worra Gibxi'iitii fi Asooriititti harka kennanne.
- ⁷ Abbootiin teenna ta durii
cubbuu hujjee dabarte;
nuuti ammoo sababa cubbuu isaaniitiif
rakkatiisatti jirra.
- ⁸ Garbooleen nu bulchan;
nami harka isaaniitii nu baasu hin jiru.
- ⁹ Goomolee keessa
ijjeechaan waan jirtuuf,
lubbuu teenna gurguranee,
sagalee dhagganna.
- ¹⁰ Beela irraa ka ka'e
gogaan keenna
akka suunsumaa gurraachoweera.
- ¹¹ Dubartoota Xiyoona keessatti,
durralle qachoota Yihuda'aa keessatti
hunnaan woliin rafane.
- ¹² Sooreyyiin harka isaaniitiin fannifante;
jaarsoleen ulfinna dhadde.
- ¹³ Dargaggoota dhiiraa
hunnaan daakuu daassifatane;
ijoolleen dhiiraa
qoraan guddaa ba'atanee tintimane*.
- ¹⁴ Jaarsoleen
yaa'ii karra qacha'aa,
dargaggootille sirba lakkitteerti.
- ¹⁵ Gammadi gadhaa keenna keessaa badeera,
sirbi keenna gara bowaa deebi'eera.
- ¹⁶ Nuuti cubbuu waan hunyeef,

* **5:13** *Tintimane*: Yookiin gatantarane.

ulfinni nu irraa ka'eera;
nu'uuf aanne'e!

¹⁷ Waan kanaaf gadhaan nu dhibameera;
iltille nu cuurrotteerti.

¹⁸ Sababa kanaaf gaarri Xiyyoonii onee,
jeedalti irra burraaxxi.

¹⁹ Ee Waaqa, ati ammoo,
haga bara baraa mooti'i;
barcumaan mootummaa teetiille
dhalootaa haga dhalootaatitti jiraata.

²⁰ Ati maaf ijjumaa nu deete?
Maaf haga kana mara nu lakkitte?

²¹ Ee Waaqa, akka duriititti nu deebifadhu,
nuutille hin deebina;
bara keenna haareessii akka durii nuu tolchi.

²² Yoo kana hin tolchin ati nu gatteerta;
akka maleelle nutti aarteerta.

Kitaaba Hizqi'elii Raagichaa Seensa

Hizqi'eliin Raagichi dhaloota Kiristoosiitiin dura woggaa dhibba shanii fi saddeettamii jaatti Yersaalem adoo hin diigaminiin duraa fi diiganteen duuba booji'amee Baabilon keessa le'aayyu. Jechi raaga isaa worra booji'amee Baabilon keessa jiruu fi kolbaa Yersaalem keessa leetuuf dabare. Kitaab Hizqi'elii raagichaa kutaa gugurdoo jaatti qoodama.

1. Waaqi akka Hizqi'el raagicha te'u waame.
2. Muraan Waaqaa kolbaa irratti akka dhuttuu fi jinnannii fi badiin Yersaalemii akka dhuttu ergaa ifi eegachiittu.
3. Gosa biyya adda addaa ta kolbaa isaa cunqursitee fi dokonkorsite akka adabu ergaa Mootii Waan Maraa biraa dabarte.
4. Jinnana Yersaalemiitiin duuba Israa'el jajjabeessiisaa fi wonni dansaan gara duraa akka isi'iif teetu, jecha waada'aa ka himame.
5. Raaga Waaqa mormu.
6. Galmi Waaqaatii fi mootummaan Israa'elii addee ifii ta duriititti akka deebi'ane fakkii Hizqi'el dhagge.

Hizqi'el nama dhugeeffannaa guddoo qabuu fi nama waan gara duraa te'u fageessee yaadu. Inni waan gara duraa te'u hedduu bifa mudhi'iitiin dhagge. Ergaa isaa keessaa hedduun hujii fakkeenaa fi ifa teetee himante. Hizqi'el irra caalaa haareffamiisi gadhaa keessaatii fi ayyaanaa barbaachisaa akka te'e, nami tokko tokkooyyuu cubbuu ifitiif itti gaafatamaa akka te'e mudhise. Inni marroo haareffamiisa jiruu kolba'aalle addii ifii lallabeera. Hizqi'el hayyicha, raagichalle waan te'eef, Galma Waaqaatii fi woyyumma'aafille fedhii addaa qabaayyu.

Haadhoo Dubbi'ii

Hizqi'el waamame **1:1–3:27**

Ergaa Marroo Badii Yersaalemii **4:1–24:27**

Gosa Biyya Adda Addaa Irratti Muraan Waaqaa **25:1–32:32**

Waadaa Waaqi Kolbaa Ifitiif Qabu **33:1–37:28**

Raaga Waaqa Mormu **38:1–39:29**

Mudhii Marroo Galma Waaqaatii Fi Lafa Gara Duraa **40:1–48:35**

Mudhii Waaqaa Ta Hizqi'el Dhagge Ta Qaraa

Mudhii Ulfinna Waaqaa

¹ Woggaa soddomeesso'oo, ji'a arfeesso'oo, guyyaa shaneesso'ootitti, worra booji'ame keessaa tokko adoo te'ee jiruu, laga Kebaarii biratti ol gubbaan banantee ani mudhii Waaqaa dhagge.

² Mootichi Yehoyaakiin booji'amee woggaa shaneesso'oo guyyaa shaneesso'ootitti,

³ Biyya Baabilonii laga Kebaarii biratti jechi Mootii Waan Maraa gara kiyaa gara ana Hizqi'elii hayyicha ilma Buzii dhufe; achitti irreen Mootii Waan Maraa na irra jirtiyyu.

⁴ Ani ol ilaalee, bubbeen bokkeyaa gara kaabaatiin dhuttuun dhagge; dumensa ciggaa keessaa balaqqeettiin balaqqittee, adaala duumensaa san ifi guddaan ifee, addee balaqqeettiin balaqqitetti wonni takka akka sageettu'uu calalaxxe.

⁵ Wodhakkaa bubbee bokkeyaa sanitti dada lubbuu qaddu, ta nama fakkaattu afur dhagge;

⁶ garuu tokko tokkoon isaaniituu fuula afurii fi koola afur qaban.

⁷ Miilli isaanii sootii, faanti miila isaanii kotte jabbi'ii fakkaatti; akka sageettuu haxowanteelle calalaxxi.

⁸ Isaan Koola ifii ka gama afuriituu jalatti harka namaa qaban; isaan arfanuu fuula fi koola qaban;

⁹ koolli isaanii wol dhaqqaba; tokko tokkoon isaaniituu adoo gara hin galin, qajeelanee gara duraa deeman.

¹⁰ Dadi lubbuu qaddu tun arfanuu fuula adda addaa afur, gara duraatiin ka fuula namaa fakkaatu, gara middaatiin ka fuula neenqaa fakkaatu, gara bita'aatiin ka fuula qotiyyo'oo fakkaatu, gara duubaatiin ka fuula risa'aa fakkaatu qaban.

¹¹ Fuulli isaanii akkas fakkaata. Koolli isaanii lamaan irii ol diriiree, qaccee koola dada isaanitti aaneeruu tuqa; koolli lamaan hafe ammoo nafa isaanii golla.

¹² Tokko tokkoon isaaniituu adoo gara hin galin, gara Ayyaanni Waaqaa isaan qajeelche, qajeelanee gara duraa koolaan ka'anee deemanee.

¹³ Dadi lubbuu qaddu sun bifi isaanii kashila ibidda bob'e'utii fi xassaa bob'e'u fakkaata; dada san odduu ibidda asii fi achi tacho'utti jiraayyu; ibiddi sun akka malee ifa; balaqqeettiille ibidda san keessaa baate.

¹⁴ Dadi lubbuu qaddu sun akka balaqqeettii banqo'oo asiif achi fidde.

¹⁵ Ani dadi lubbuu qaddu arfan san yennaa ilaale, korboo afur tokko tokkoo isaaniituu biratti lafa irratti dhagge.

¹⁶ Bifi korboo arfan saniitii fi akki isaan itti hujamane akka kana fakkaata: Bifi isaanii akka bifa dooqa, «Beerilos» jedhamuu calalaga; isaan arfanuu wol fakkaatan. Tokko tokkoon isaaniituu akka korboo wol keessa jirtuutitti hujamaneeran.

¹⁷ Isaan yennaa deemanu, adoo asii fi achi gara hin galin, gara dadi lubbuu qaddu deemanu gara arfanittuu deeman.

¹⁸ Irgi korboota tanaa dhedheerota sodaachisanu; korbooti sun arfanuu naannoo irga ifii irraa ila qaban.

¹⁹ Yennaa dadi lubbuu qabanu sun ideemanu korbooti sunille cinaa isaanii ideeman; yennaa dadi lubbuu qabanu sun lafa irraa ol ka'an, korbooti sunille ol ka'an.

²⁰ Garuma ayyaanni Waaqaa ideemu dadi lubbuu qabanu sunille deeman; Ayyaanummaan dada lubbuu qabanuu keessa jiru sun korboota san keessalle waan jiruuf, korbooti sunille isaanuma waliin ka'anee deeman.

²¹ Ayyaanni Waaqaa sun dada lubbuu qabanuu fi korboota san waan qajeelchuuf, dadi lubbuu qabanu sun yennaa ideemanu korbooti sunille isaanuma waliin deeman; yennaa isaan dhaabbatanulle isaanuma waliin dhaabbatan; yennaa isaan lafa irraa ol ka'anulle wolumaan ol ka'an.

²² Mataa dada lubbuu qabanu sanii gubbaa wonni akka dhakaa roobaa calalagee ila sodaachisu ta gubbaa gombobbittii fakkaattutti diriireeraayyu.

²³ Gubbaa gombobbittii saniin jala koolli isaanii lamaan gara woli woli isaanii diriiree jira. Dadi sun tokko tokkoon isaaniituu koola lama ka nafa ifii ittiin gollatanu qabaniyyu.

²⁴ Yennaa isaan koolaan ka'an, shookkessi koola isaanii akka shookkettii galaana gudda'aa, akka shookkettii qoonqoo Waaqa Waan Mara Dande'uu yookiin akka hogaa gumii loltootaa fakkaattu dhage'e; isaan yennaa koolaan ka'iisa lakkisanu, koola ifii gad qabatan.

²⁵ Isaan yennaa koolaan ka'iisa lakkisane koola ifii gad qabatanelle gubbaa gombobbittii san gubba'aa qoonqoon dhage'ante.

²⁶ Gubbaa gombobbittii san irra wonni barcumaa mootumma'aa ka dooqa, «Safiiros» jedhamu irraa hujame fakkaatu tokko jiraayyu; waan akka barcumaa mootumma'aa san gubbaalle waan nama fakkaatu tokkotti jiraayyu.

²⁷ Addee hidha isaa fakkaatu san irraa jalqabee irii ol waan akka sibiila ibidda keessatti finiinee fakkaatu, addee hidha isaa fakkaattu san irraa jalqabee irii gad waan ibidda fakkaatu ka ifi calalaqu cinaa isaa mara jiru tokko dhagge.

²⁸ Ifi cinaa isaa maraa calalaqu sun, akka hiituu yennaa bokkeyaa dumensa keessaa mudhattuu ti.

Kun fakkeenaa bifa ulfinna Mootii Waan Maraa fakkaataayyu; ani yennaa waan kana dhagge, fuulaan lafatti gad gombifamee, qoonqoo nama dubbatuu dhage'e.

2

Waamamiisa Hizqi'elii

¹ Inni anaan, «Ilma namaa! Ka'iitii miila keetiin dhaabbadhu; anille si woliin hin dubbadha» jedhe.

² Yennaa inni natti dubbate, Ayyaanni Waaqaa na keessa seenee miila kiiyaan na dhaabbachiisee, natti dubbatuun dhage'e.

³ Inni anaan, «Ilma namaa! Ani gara kolbaa Israa'elii worra finqilaa na irratti finqila kaasee si hin erga; abbootiin isaanii fi isaan haga adhaa na irratti cubbuu hujaneeran.

⁴ Isaan worra morkatuu fi worra mataa jabaatu; tanaaf ani gara isaanii si ergaaraa, ati, «Gootaan Mootiin Waan Maraa akkana jedha» jedhiin;

⁵ isaan worri finqilaan sun yoo dhage'anelle yookiin yoo dhage'uu didanelle, raagaan tokko akka odduu isaanii jiru hin beekan.

⁶ Atille ilma namaa! Isaanii fi jecha isaanille hin sodaatin; gore'ee fi qumi'uuduu woliin jiraatanulle, makka irra yoo teettelle hin sodaatin. Isaan worra finqilaa waan te'aneef, ati waan isaan siin jedhanu hin sodaatin; isaan si hin rifachiisin.

⁷ Isaan worra finqilaa waan te'aneef, yoo dhage'anelle yookiin yoo dhage'uu didanelle, ati jecha kiiya isaanitti dubbadhu.

⁸ «Ati ammoo ilma namaa! Waan ani siin jedhu dhage'i! Atille akka worra finqilaa sanii hin te'in; afaan keeti banadhuutii, waan ani sii kennu nyaadhu» jedhe.

⁹ Ani yennaa ilaale, harki tokko gara kiiya diriiruun dhagge; harka san keessa kitaaba maramaa tokkotti jiraayyu.

¹⁰ Harki sun kitaaba maramaa san na duratti diriirse. Kitaab sun duraa fi duuballe'een barreeffama qabaayyu; barreeffam irra jiru sun jecha gaddaa, jecha bowaatii fi wiiccifataa ti.

3

¹ Mootiin Waan Maraa, anaan, «Ilma namaa! Ati waan asitti dhaggite mara nyaadhu; kitaaba maramaa kana nyaadhuutii, dhaqii kolbaa Israa'eliititti dubbadhu!» jedhe.

² Maarre ani afaan banadhee, innille kitaaba maramaa kana akka nyaadhu naa kennee,

³ «Ilma namaa! Ati kitaaba maramaa ani sii kennu kana nyaadhuutii, gadhaa keeti guutadhu!» jedhe; achiin duuba anille kitaaba maramaa san nyaadhee, innille afaan kiiya keessatti akka dammaa mi'owe.

⁴ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa, anaan, «Ilma namaa! Gara kolbaa Israa'elii dhaqiitii jecha kiiya isaanitti dubbadhu.

⁵ Ati gara kolbaa Israa'elii ergante malee, gara gosa biyya adda addaa hedduu orma ta afaan isaanii hin beekkanne, ta dubbiin isaanii rakkisaa teetee hin erganne;

⁶ ani gara kolbaa afaan isaanii hin beekkannee, ta dubbiin isaanii rakkisaa teetee, si hin ergine. Dhugumaan, adoo achi si ergee jiraadhee, sila isaan si hin dhage'aniyyu.

⁷ Kolbaan Israa'elii ammoo na caqasiisa waan hin fedhiniif, si caqasiisa hin feene. Sababille kolbaan Israa'elii marti mataa jaba'aa fi gadhaa jabaa qaban.

⁸ Kunoo, ani fuula isaanii duratti fuula keetii fi adda keeti hin jabeessa.

⁹ Ani adda keeti akka dhakaa jaba'aa, dhakaa-birraalle caalaa jabeessa; isaan worra finqilaa waan te'aneef, isaan hin sodaatin; hin rifatinille'e» jedhe.

¹⁰ Ammalle, inni, anaan, «Ilma namaa! Jecha ani sitti dubbadhu mara gurra keetiin dhage'iitii, gadhaa keetitti qabadhu.

¹¹ Gara worra booji'amee, gara kolbaa keetii dhaqiitii, yoo dhage'anelle yookiin yoo dhage'uu didanelle, «Gootaan Mootiin Waan Maraa akkana jedha» jedhiin» jedhe.

¹² Achiin duuba Ayyaanni Waaqaa ol na fuudhee, duuba kiyyaan, qoon-qoon guddoon ta akka lafa tachootuu takka, «Ol-gubbaa keessatti ulfinni Mootii Waan Maraa ka leellifame te'uu ti» jettuun dhage'e.

¹³ Qoonqoon sun ta koolli dada lubbuu qabanu sanii yennaa wol dhowanu shoorkisuutii fi ta korboo cinaa isaanii jirtuu ta akka lafa tachootuu hididdituu ti.

¹⁴ Ayyaanni ol na fuudhee deeme; anille hadheeffataa, aaree bobe'aa achii deeme; irreen Mootii Waan Maraalle na irratti jabaatteertiyyu.

¹⁵ Ani gara worra booji'amee laga Kebaarii bira Tel-Abiib jiranuu dhage. Ani akkuma nayee waan godhu wollaaletti, guyyaa torba odduu isaanii ture.

Akka Israa'el Eegu Waaqi Hizqi'el Muude

¹⁶ Guyyaan torba dabareen duuba jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

¹⁷ «Ilma namaa! Ani nama kolbaa Israa'elii eegu si godheera; ati yennaa jecha afaan kiyyaa bawu dhageettu mara, waan ani isaan ifi eeggachiise san isaanitti himi.

¹⁸ Ani nama cubbaallessaan, «Ati dhugumaan hin duuta» jedhuun, ati yoo isa ifi eeggachiisuu dhadde, inni karaa ifi cubbaalessa san irraa deebi'ee jiru'uun akka jiraatu isa ifi eeggachiisiisaaf yoo itti himuu dhadde, nami cubbaalessi sun yakkaa ifitiin hin du'a; ani ammoo dhiiga isaa harka keeti keessaa barbaada.

¹⁹ Ati cubbaalessa ifi eeggachiittee inni cubbuu ifi irraa yookiin karaa ifi cubbaalessa san irraa yoo hin deebi'in ammoo yakkaa ifitiin hin du'a; ati ammoo lubbuu teeti hin baafatta.

²⁰ Ammalle, nami balchaan tokko balchummaa ifi irraa deebi'ee, waan hantuu yoo huje, ani gufuu isa dura keya; innille hin du'a. Atille waan isa ifi hin eeggachiisiniif, inni cubbuu ifitiin hin du'a; hujiin balchittiin inni qara hujeeruu isaaf hin laakkowantu; ani ammoo dhiiga isaa harka keeti keessaa barbaada.

²¹ Ati ammoo nami balchaan tokko akka cubbuu hin hunye yoo ifi eeggachiitte, innille dhage'ee yoo cubbuu hujuu dhabe, inni ifi eeggachiisa san waan fudhateef, dhugumaan jiru'uun hin jiraata; atille lubbuu teeti baafatteerta» jedhe.

²² Achille'etti irreen Mootii Waan Maraa na irra jirtiyyu. Inni, anaan, «Ka'ii gara lafa dhooqaa dhaqi; anille achitti sitti hin dubbadha» jedhe.

²³ Maarre anille ka'ee gara lafa dhooqaa san dhage; kunoo, ulfinni Mootii Waan Maraa ka akka ani laga kebaarii biratti dhaggeeruu sun achi dhaabba-teeruun dhagge; anille fuula kiyyaan gad gombifame.

²⁴ Te'uu malee, Ayyaanni Waaqaa na irratti bu'ee miila kiyyaan na dhaab-bachiisee, natti dubbatee, «Deemi, gara mana keetii galii, balbala ifitti cu-fadhu.

²⁵ Ee ilma namaa! Ati akka xaxantee odduu kolba'aatitti gad bawuu hin dandeenne, kunoo, wodaro'oon hin hidhanta.

²⁶ Isaan kolbaa finqiltuu waan te'aneef, akka ati isaan xixuu hin dandeenne, ani arraba keeti laagada'atti hin maxxansa. Duudaa hin teeta.

²⁷ Ani yennaa sitti dubbadhu ammoo afaan keeti hin bana; atille isaaniin, «Gootaan Mootiin Waan Maraa akkana jedha» hin jetta. Isaan worra finqilaa waan te'aneef, nami dhage'u, dhage'uu ti; nami dhage'uu didatu lakkisuu ti.

4

Fakkeenaa Marfama Yerusaalemii

¹ «Ilma namaa! Faara loobamaa tokko fuudhii ifi dura keyiitii, qachaa Yerusaalemii irratti qiriixi.

² Akka loltootaan marfameetitti waan qachaa san marsu itti hujii, kushee dhaka'aa itti ijaari; biyyeelle tuuliitii yaabbannoo itti ijaari. Addee qut-tumaalle itti naannessii ijaariitii, waan dalleya dhaka'aa ittiin diiganulle itti naannessi.

³ Eelee sibiilaa fuudhiitii wodhakkaa teetii fi qachaa sanii akka dalleya sibiilaatitti keyi; fuula keeti gara qacha'aa deebifadhuutii ila itti baasi. Qachaan sun ka marfame hin te'a; ati qachaa san hin marsita; kunille kolbaa Israa'eliitiif beessisa hin te'a.

⁴ «Achiin duuba gara cinaacha bita'aatitti irkadhuutii, cubbuu Israa'elii ba'adhu; akka laakkossa guyyaa cinaacha keeti irratti irkateetitti cubbuu isaanii hin ba'atta.

⁵ Akka laakkossa woggaa Israa'elooti cubbuu hujjaneetitti, guyyoota laakkowee sii hin kenna. Tanaaf, guyyaa dhibba sadii fi sagaltama cubbuu Israa'elootaa hin ba'atta.

⁶ Yennaa tana fixxe, yennaa lammeesso'oo cinaacha middaa irratti guyyaa afurtama irkattee, cubbuu Yihudootaa hin ba'atta. Cubbuu woggaa tokko tokkootiif, guyyaa tokko tokko akka irkattu ani murteesseera.

⁷ «Ati fuula keeti gara marfama Yerusaalemii deebifadhuutii, ila itti baasii, harka keeti irraa woyaa caccaffadhuutii, raaga ifi eeggachisiisaa itti dubbadhu.

⁸ Haga guyyaan marfama keetii sun fixamutti, cinaacha kaan irraa gara cinaacha kaaniititti akka ati gara hin galle ani wodaro'oon si hin hidha.

⁹ «Qamadii, garbuu, baaqela, misira, mishinqa'aa fi garbuu qoroxo fuudhiitii wolitti makii daabboo huji; guyyaa dhibba sadii fi sagaltama yennaa cinaacha keeti irratti irkatu san isii san hin nyaatta.

¹⁰ Sagaleen ati guyyuma guyya'aan nyaattu, gara giraama dhibba lama fi soddoma teetuu ti; isuma tana yennaa murtootte keessatti nyaadhu.

¹¹ Hagi bisaan ati guyyuma guyya'aan untuulle gara wodhakkaa* litiri'ii te'uu ti.

* **4:11** Wodhakkaa: Yookiin gamis.

¹² Faalowa namaa ka goge bobeeffadhuutii, addee nami dhagguutti akka daabboo garbu'uu bilcheeffatutti daabboo san bilcheeffadhuu nyaadhu» jedhe.

¹³ Mootiin Waan Maraalle, «Akkuma kana kolbaan Israa'elii addee ani isaan itti bittinneessu gosa biyya adda addaa oddu'utti sagalee ifii battii hin nyaatan» jedhe.

¹⁴ Achiin duuba anille, «Goottaa Mootii Waan Maraa, hoola! Ani ijjumaa battowee hin beeku. Ijoollummaa tiyyaan jalqabee waan ifiin du'e yookiin waan bineensi ijjeese ani ijjumaa nyaadhee hin beeku; foon battowe afaan kiyya seenee hin beeku» jedhe.

¹⁵ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa, anaan, «Kunoo, addee faalowa namaa, dhoqqee loonii bobeeffattee, sagalee akka itti bilcheeffattu hin godha» jedhe.

¹⁶ Inni ammalle, anaan, «Ilma namaa! Kunoo, ani sagalee Yersaalemiif dhikaattu irraa hin kuta. Isaan yaaddo'oon guutamanee, sagalee madaalli'ii nyaataa, bisaan qusataa hin unan.

¹⁷ Ani akka isaan sagale'ee fi bisaan dhabanuuf, wol ilaalanee akka isaan rifatanuuf, sababa yakkaa ifiitiif gad deebi'anee akka isaan badanuuf, tana hin godha.

5

Yersaalem Hin Baddi

¹ «Atille ilma namaa! Shallaagaa qarame fudhadhuutii, akka waan areeda ittiin haadatanuu areedaa fi rifeensa mataa keetii ittiin haadadhu. Achiin duuba rifeensa san madaaliitii gargar goodi.

² Guyyaan marfamiisaa yennaa hobba'e, rifeensa san harka sad keessa harka tokko wodhakkaa qachaa faara loobame irratti keyamee san irratti ibiddaan gubi; harka sad keessaa tokko qachaa faara loobame irratti kaachetti naannessii shallaaga'aan kukkuti. Harka sad keessaa tokko qilleensaaf bittinneessi; anille shallaagaa buqqifadhee isaan hin ari'a.

³ Rifeensa san irraa diqqaa isaa fuudhiitii qaccee woyaa teetiititti hidhadhu.

⁴ Ammalle diqqaa isaa fuudhiitii ibidda keessa buusii gubi. Achi keessaa kolbaa Israa'elii maratti ibiddi hin faca'a» jedhe.

⁵ Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Biyya hedduu isi'itti naannessee, ta ani gosa biyya adda addaa wodhakkaa keye, Yersaalem tana.

⁶ Isiin gosa biyya adda addaa caalaa waan hantuu hujiisaan ajaja kiyya diddee, biyya naannoo isi'ii jiranu mara caalaa na finqilteerti; ajaja kiyya gatteerti; seerata kiyyalle hin hordofanne» jedha.

⁷ Tanaaf Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Isin worri Yersaalemii, isin gosa biyya adda addaa ka naannoo teessan jiranu caalaa seeri malee teetaneertan; ajajaa fi seerata kiyyalle hin eeganne; akka ajaja gosa biyya adda addaa ka naannoo teessan jiranuutuu hin hujanne» jedha.

⁸ Tanaaf, Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Kunoo, aninuu si irratti hin ka'a; gosi biyya adda addaa marti adoo ilaalu muraa si irratti hin fida.

⁹ Sababa hujii diqatantuuti ati hujje maraatiif, waan tanaan qara godhee hin beenne, ta gara duraalle hin goone si irratti hin godha.

¹⁰ Tanaaf si keessatti, abbootiin ijoollee ifii, ijoolleen abbootii ifii hin nyaatti; ani muraa si irratti hin fida; worra jiru'uun hafe gara mara hin bittinneessa» jedha.

¹¹ Tanaaf, Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Ani Mootiin Waan Maraa, dhugumaan jiraata'a! Ati hammeennaa fi waan diqachiisu hujiisaan addee

woyyittii tiyya waan batteessiteef, anille marartii malee akka ati salphattu hin godha.

¹² Kolbaan teeti harka sad keessaa harki tokko beelaa fi dhukkubaan si keessatti hin dhumatti; harka sad keessaa harki tokko adaala keetitti shallaaga'aan hin dhumatti; harka sad keessaa harka tokko gara mara bittinneessee, shallaagaa buqqifadhee isaan hin ari'a.

¹³ «Akka kanaan ani aarii tiyya hin qabbaneeffadha; mufii tiyya isaanitti buusee, gadhaan kiyya gabbi na hin jedha. Yennaa ani mufii tana isaanitti fide, isaanille ani Mootiin Waan Maraa hinaaffa'aan akka dubbadhe hin beekan.

¹⁴ Gosa biyya adda addaa oddu'utti, ila worra achiin dabaruu mara duratti si diigee onsee, akka sitti murganu hin tolcha.

¹⁵ «Ani yennaa aari'ii fi mufiin, xixicha jaba'aan muraa sitti fidu, ati gosa biyya adda addaa mara duratti waan coora'aatii fi murgo'oo, waan dhagganee ifi eegatanuu fi dhagganee bararaqanu hin teetan. Ani Mootiin Waan Maraa tana dubbadheera.

¹⁶ Ta isin ijeettuu fi ta isin balleessitu beela akka daayaa yennaa isinitti buusu, beela irratti beela yennaa isiniif ede'u, sagalee isin hin dhoogga.

¹⁷ Beelaa fi bineensa isinitti ergee, isaan ijoollee teessan hin fixan. Woraanalle isinitti hin fida; dhukkubii fi dhiiga dhangalaasiis odduu teessan hin guutan. Ani Mootiin Waan Maraa tana dubbadheera» jedhe.

6

Muraa Waaqota Dharaa Waaqonfatiisa Irratti Dhuttu

¹ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

² «Ilma namaa! Gara gaarota Israa'elii ilaali; raaga isaan irratti dubbadhuutii,

³ «Ee, gaarota Israa'elii, jecha Goottaa Mootii Waan Maraa dhage'a'a! Gootaan Mootiin Waan Maraa, gaarotaa fi koobotaan, dareeraa fi dhooqaan: Kunoo, ani shallaagaa isinitti ergee, addee waaqonfanna'aa teessan hin balleessa.

⁴ Addeen ciinca'aa teessan marti diigantee hin baddi; addeen ciinca'aa teessan ta hixaanni irratti aarfamu marti hin caccaddi; ani namoota keessan ka ijjeefamane waaqota dharaa keessan duratti hin gata.

⁵ Reeffa worra Israa'elootaa waaqota dharaa ka isaanii duratti hin gonbisa; lafee isaanille adaala addee ciinca'aa teessanitti hin bittinneessa.

⁶ Addeen ciinca'aa teessan diigamanee akka onanu, waaqoti dharaa keessan caccabane akka badanu, addeen ciinca'aa teessan ta hixaanni irratti aarfamu akka diigamanu, wonni isin hujjane marti ijumaa akka baddu, qachooti isin keessa leetanu marti ona hin te'an; addeen waaqonfanna'aa teessan marti hin diigaman.

⁷ Namooti ijjeefamane odduu teessanitti hin gombifaman; isinille ani Mootii Waan Maraa akka te'e hin beettan.

⁸ «Te'uu malee yennaa isin gosa biyya adda addaa odduu bittinnoottanu, isin keessaa worra garii ka shallaagaa jalaa miliqee hafu, lubbu'uun hin hambura.

⁹ Achiin duuba worri shallaagaa jalaa miliqee hafe kun, naaf adda-mummaa dhabiisaan na irraa goranee, waaqota dharaa waaqonfatane, attam akka na gaddisiisane, gosa biyya adda addaa addee itti booji'aman oddu'utti, na hin qaabatan. Isaan hujii hantuu hujaneef, hujii battii hujane maraafille, ifi hin jibban.

¹⁰ Isaan ani Mootii Waan Maraa akka te'e hin beekan. Waan hantuu tana isaan irratti akka fidu ani akkasumaan hin dubbanne jedha» jedhe.

¹¹ Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Kolbaan Israa'elii sababa hujii hantuu battittii hujje maraatiif, shallaaga'aan, beelaa fi dhukkubaan waan dhumatuuf, harka dhowaa, miilaan lafa dhidhiitaa, «Anne'e!» jedhii bowi.

¹² Worri fagoo jiru dhukkubaan hin dhumata; worri dhikoo jiru shallaaga'aan hin dhumata; worri tana jalaa bayee hafe beelaan hin dhumata; akkanaani mufii tiyya jadduu isaan irratti hin baafadha.

¹³ Isaan keessaa worri qalame odduu waaqota dharaa ka isaanii adaala addee ciinca'aa ta isaaniiitti, koobota dhedheertuu mara irratti, gaarota mara irratti, muka bisilee mara jalatti, qilxaa banqaaqaa mara jalatti, addee waaqota dharaa ka ifitiif kennansa foolee dansaa qabu itti dhikeessane maratti, reeffi isaanii yenna gombifame, ani Mootii Waan Maraa akka te'e hin beettan.

¹⁴ Ani harka kiyya isaan irratti diriirsee, addee isaan le'anu mara, lafa isaanii duwwaa godhee, goomolee kibbaa irraa jalqabee haga qachaa Diiblaa ka gara kaabaatitti hin onsa. Achiin duuba ani Mootii Waan Maraa akka te'e isaan hin beekan» jedhe.

7

Badiin Israa'elii dhikaatte

¹ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

² «Ee ilma namaa! Gootaan Mootiin Waan Maraa marroo lafa Israa'eliitiif, «Lafa Israa'elii duudii irratti badiin dhikaatteerti.

³ Ee kolbaa Israa'elii! Kunoo, badiin teessan dhikaatteerti; ani aarii tiyya isin irratti hin dhangalaasa; akkuma ideensa keessaniititti isinitti hin mura; battummaa teessan maraaf isin hin adaba.

⁴ Marroo ideensa keessaniitii fi marroo battummaa odduu teessan jirtuutiif, ani isin hin adaba malee, isin hin hilu yookiin isiniif hin mararu» jedha. Achiin duuba ani Mootii Waan Maraa akka te'e hin beettan» jedhe.

⁵ Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Badiin, badii irratti isinitti dhufaarti.

⁶ Muummeen dhutteerti! Dhutteerti! Isin irratti kaateerti; kunoo, dhutteerti.

⁷ Ee, isin worra lafa keessa leetanu, badiin teessan dhutteerti; yennaan dhutteerti; guyyaan sun guyyaa raafamaa ti malee, guyyaa gaara irratti firinxiixanuu moti.

⁸ «Ani ammuma mufii tiyya isin irratti hin dhangalaasa; aarii tiyyalle isin irratti hin baafadha; akka ideensa keessaniititti isinitti hin mura. Hujii battittii teessan maraafille isin hin adaba.

⁹ Marroo ideensa keessaniitii fi marroo battummaa odduu teessan jirtuutiif, ani isin hin adaba malee, isin hin hilu yookiin isiniif hin mararu. Achiin duuba ani Mootiin Waan Maraa ka adabu akka te'e hin beettan.

¹⁰ «Guyyaan sun kunoo ti! Kunoo, dhufeera! Badiin teessan dhutteerti. Hunnaan nama irratti ka'iis guddateera; koorille bacateera.

¹¹ Hunnaan nama irratti ka'iis guddatee, ulee hammeennaa teeteerti. Isaan keessaa yookiin gumii isaanii keessaa, qabeenna isaanii keessaa, waanuma gatii qabu keessalle'ee ka hafu tokkolle hin jiru.

¹² Kunoo yennaan dhutteerti; guyyaan geyeera; mufiin tiyya gumii isaanii mara irratti waan dhufaartuuf, ka bitatu hin firinxiixin; ka gurguratulle hin gaddin.

¹³ Mudhiin marroo gumii maraa waan hin jijjiiraneef, ka gurguratee fi ka bitate haga jiru'uun jiranu, ka gurgurate lafa gurgurate san deebifatiisaaf hin dande'u. Sababa yakkaa isaaniiitiif, isaan keessaa nami lubbuu ifi hamburatu dande'u tokkolle hin jiru.

14 Mufiin tiyya gumii mara irra waan jirtuuf, tultullaa afuufanee waan mara qopheeffatanulle, nami gara lolaa dhaqu tokkolle hin jiru.

Addabbii Marroo Cubbuu Israa'elii

15 «Alaan shallaagaan, keessaan dhukkubaa fi beelatti jira; worri qacha'aan ala jiru shallaaga'aan dhumata; worri qachaa keessaalle dhukkubaa fi beelaan hin dhumata.

16 Isaan keessaa worri miliqee hafe, sababa yakkaa ifitiif, akka saphaliisa dhooqa keessaa, gaara irraa hin aadaan.

17 Harki marti hin laashowa; jilbi marti hin lellega.

18 Woyaa gaddaa hin uffatan; wonni hantuun nami dhaggee bararaqu isaan hin liqinsiti; mataan isaanii hin haadama. Isaan marti hin qaanowan.

19 Isaan meetii ifii karaa irratti hin gatan; worqiin isaaniille akka waan batti'iititti hin laakkowanti. Guyyaa mufii ana Mootii Waan Maraa meeti'ii fi worqiin isaanii isaan baasuu hin dande'anuu. Akka isaan yakkaa hujanu waan isaanitti te'aneef, nyaatanee ittiin hin quufanu yookiin gadhaa ifii ittiin hin guutatanu.

20 Isaan seesa ittiin kooranu saniin, waaqota dharaa diqachiisa'aa fi waan battii hujataneeran; tanaaf waan kana mara waan battii isaanitti hin godha.

21 «Seesa isaanii ormi akka saamu, hamaaleyyiin lafa san irraalle akka booji'anuu harka isaaniititti dabarsee hin kenna. Isaaniille seesa san hin batteessan.

22 Ani fuula kiyya isaan irraa hin deebifadha; isaaniille karra tiyya hin batteessan. Saantuun itti tintee hin batteessiti.

23 «Latti dhiiga dhangalaasiisaan waan guutanteef, qachaalle hunnaan nama irratti ka'iisaan waan guutameef, wodaroo sibiilaa qopheeffadhu.

24 Gosa biyya adda addaa keessaa worra irra caalaa hamaaleyyii fidee, qabeenna mana isaanii akka saamanu hin godha. Koora worra hunnaameyyi'ii hin balleessa; addeen woyyittiin isaanii marti hin battootti.

25 Muddam yennaa dhufu, isaan nageya hin barbaaddan; garuu hin dhaggatanu.

26 Badiin, badii irratti, oduulle, oduu irratti hin dhutti. Isaan raagaa irraa mudhii hin barbaadan; barsiisi seeraa hayyicha irraa, gorsi jaarsolee irraa hin bada.

27 Mootichi hin bowa; gondaalli ijjumaa addii hin kutata; harki kolbaa lafa sanii hin romma. Ani akkuma ideensa isaaniititti isaan hin adaba; akkuma muraa isaaniititti isaanitti hin mura. Achiin duuba isaan akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beekan» jedhe.

8

Galma Waaqaa Keessatti Waaqota Dharaa Waaqonfatiisa

1 Booji'annee woggaa jayeesso'ootitti, ji'a jayeesso'oo, guyyaa shaneesso'ootitti, jaarsoleen Yihuda'aa na waliin mana kiyya keessa tee'aneeranuun, achitti hunni Gootaa Mootii Waan Maraa natti dhutte.

2 Achiin duuba anille ilaalee, waan nama fakkaatu tokko dhagge; waan hidha isaa fakkaatuun gad waan akka ibiddaatitti jira; waan hidha isaa fakkaatuun ol waan akka sibiila finiinee ifutti jira.

3 Wonni nama fakkaatu sun waan harka namaa fakkaatu gara kiyya diriirsee rifeensa mataa kiyyaa qabe; Ayyaanni ol-gubba'aa fi lafa wodhakka'atti ol na fuudhee, addee fakkiin waaqa dharaa ta hinaaffaa kakkaachu dhaabbattu, gara balbala gara kaabaa ta seensuma badhinna dalleya keessaa ka gara keessaa, mudhii Waaqaatiin gara Yersaaleemii na geesse.

⁴ Kunoo, ulfinni Waaqa Israa'elii, ka akka ani dhooqa Kebaariititti mudhi'iin dhaggee achi jiraayyu.

⁵ Achiin duuba Waaqi anaan, «Ee ilma namaa! Amma ati gara kaabaa ol ilaali!» jedhe; anille gara kaabaa ol ilaalee, seensuma karra gara addee ciinca'aatiin gara kaabaatitti fakkii waaqa dharaa ta hinaaffaa kakkaachu dhagge.

⁶ Ammalle Waaqi anaan, «Ee ilma namaa! Kolbaan Israa'elii addee woyyitii tiyya irraa na fageessiisaaf, waan battii guddittii isaan asitti hujiisatti jiranu dhaggitaa? Ammalle battii guddittii tana caaltulle dhaggu'uu jirta» jedhe.

⁷ Inni gara seensuma badhinna dalleya keessaa na geesse; ani yennaa ilaale, dalleya dhaka'aa irra qowa tokkotti jiraayyu.

⁸ Achiin duuba inni anaan, «Ee ilma namaa! Dalleya dhaka'aa kana uri» jedhe; maarre anille yennaa ure seensuma takka dhagge.

⁹ Ammalle inni anaan, «Gara keessaa seeniitii, battii hantuu isaan asitti hujiisatti jiranu tana ilaali» jedhe.

¹⁰ Anille gara keessaa seenee ilaale; naannoo dalleya dhaka'aa san mara irratti wonni akka bineensota gadha'aan lafa irra lowanuutii fi wonni akka bineensota batti'ii marti, wonni akka waaqota dharaa ka Israa'elii marti irratti qiriixamaneeraniyyu.

¹¹ Jaarsoleen Israa'elii torbaatam fakkii san dura dhaabbataneeraniyyu; ilmi Shaafaanii Yaazaaniyaalle odduu isaanii dhaabbateeraayyu; tokko tokkoon isaanii girgiraa harkatti qabataneeran; aarri hixaanaa hurrantaan foolee dansaa qabu girgiraa san keessaa ol ka'e.

¹² Ammalle Waaqi anaan, «Jaarsoleen Israa'elii tokko tokkoon isaaniituu kolloo fakkii waaqota dharaa ka isaanii keessatti, dukkana keessatti waan isaan hujiisatti jiranu dhaggiteertaa? Isaan, «Mootiin Waan Maraa nu hin dhaggu; lafa tana lakkiseera» jedhan» jedhe.

¹³ Inni ammalle anaan, «Waan battii guddittii tana caaltu akka isaan hujanu ammalle dhaggu'uuf jirta» jedhe.

¹⁴ Achiin duuba inni gara seensuma karra dalleya Galma Mootii Waan Maraa ta gara kaabaa na geesse; ani achitti dubartoota teettee waaqa dharaa, ka, «Tamuz» jedhamuuf boottu dhagge.

¹⁵ Achiin duuba inni anaan, «Ee ilma namaa! Waan kana dhaggiteertaa? Waan battii tana caaltulle dhaggu'uu jirta» jedhe.

¹⁶ Ammalle inni gara badhinna dalleya keessaa ka Galma Mootii Waan Maraa ka gara keessaa na geesse; kunoo, namooti gara diddamii shanii seensuma Galma Mootii Waan Maraa, wodhakkaa addee ciinca'aatii fi soro'oo dhaabbatane, Galma Mootii Waan Maraatiitti dudda galanee, gara aduun baatutti fuula galanee, adu'uuf sagadiisatti jiraniyyu.

¹⁷ Achiin duuba inni anaan, «Ee ilma namaa! Waan kana dhaggiteertaa? Wonni battiin kolbaan Yihuda'aa asitti hujiisatti jirtu tun waan kasoo seetaa? Lafa tana hunnaan nama irratti ka'iisaan guutane, yennaa mara akka ani aaru godhuu qabanii ree? Kunoo, isaan akka fedhane na arrassan.

¹⁸ Tanaaf ani mufi'iin isaan hin adaba; ani isaan hin hilu; isaan hin mararulle'e. Yennaa isaan gara kiyya iyyanelle, isaaniif hin dhage'u» jedhe.

¹ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa qoongoo ifii ol qabatee, «Worri qachaa balleessiisaaf filantane martinuu, meya woraanaa qabadha'aatii as dhikaadha'a!» jedhee waamuun dhage'e.

² Namooti jaa tokko tokkoon isaanii meya woraanaa harkatti qabatanee, karaa karra gubba'aa ta gara kaabaatiin dhufane; isaan woliin nami woyaa quncee talba'aa irraa hujante uffatee, subba meya woy ittiin barreessanu qabu fannifateeru tokko jiraayyu. Namooti jaanuu seenanee addee ciinca'aa ta sageettuu irraa hujante bira dhaabbatane.

³ Achiin duuba ulfinni Waaqa Israa'elii, addee qara jiru dada ol-gubba'aa ta koola qaddu irraa ka'ee, gara gulantaa Galmaa dhage; achiin duuba Mootiin Waan Maraa namicha woyaa quncee talba'aa irraa hujante uffatee, subba meya waan woy ittiin barreessanu qabu fannifateeru san waamee,

⁴ «Qachaa Yerusaalemii keessa deddeemiitii, adda worra wonni battiin qachaa san keessatti waan hujanteef aadee bowu irratti mallattoo godhi» jedhe.

⁵ Ammalle adoo ani dhage'uu Mootiin Waan Maraa worra dhibi'iin, «Isinille isa gula deema'aatii qachaa san keessa deddeema'aatii ijjeesa'a. Hin hilina'a yookiin hin mararina'a.

⁶ Jaarsolee, dargaggeeyyii dhiiraatii fi durraa, ijoollee didiqqo'oo fi dubartii ijjeesa'a. Garuu worra adda ifii irratti mallattoo qabu tokkolle hin tuqina'a. Addee Woyyittii tiyya irraa jalqaba'a» jedhe. Maarre isaan jaarsolee Galma dura jiranuun jalqabane.

⁷ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa isaaniin, «Dhaqa'aatii Galma batteessa'a; reeffa badhinna Galmaa san guuta'aatii, achii deema'a» jedhe. Maarre isaan deemanee worra qachaa san keessa jiru ijjeesane.

⁸ Adoo isaan ijjeesiisatti jiranuu ani qofuu hafee, addaan lafatti gad gombifamee, «Maalo'o, Goottaa, Mootii Waan Maraa! Mufii teeti Yerusaalem irratti dhangalaasiisaan, worra Israa'elii ka baraaree hafe mara balleessaartaa ree?» jedhee iyye.

⁹ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa deebisee, «Yakkaan kolbaa Israa'eliitii fi kolbaa Yihuda'aa guddoo bacatteerti; latti worra dhiiga dhangalaasuun guutantee, qachaalle worra haqa dassuun guutameera; isaan, «Mootiin Waan Maraa lafa lakkiseera; inni hin dhaggu» jedhan.

¹⁰ Maarre ani waan isaan hujane mataa isaaniititti deebisa malee, isaan hin mararu, hin hilulle'e» jedhe.

¹¹ Achiin duuba namichi woyaa quncee talba'aa irraa hujante uffatee, subba meya waan woy ittiin barreessanu qabu fannifateeru sun deebisee, Mootii Waan Maraatiin, «Waan ati na ajajje mara muummesseera» jedhe.

10

Ulfinni Waaqaa Galma Irraa Ka'e

¹ Ani gubbaa gombobbittii mataa dada ol-gubba'aa ta koola qabanuun gubbaa jirtu ol ilaalee, mataa dada ol-gubba'aa ta koola qabanu gubba'aan wonni barcumaa mootumma'aa fakkaatu ka dooqa, «Safiros» jedhamu irraa hujame tokko mudhate.

² Mootiin Waan Maraa namicha woyaa quncee talba'aa irraa hujante uffateeruun, «Korboota dada ol-gubba'aa ta koola qabanu jala jiranu odduu seen; kashila odduu dada ol-gubba'aa ka koola qabu jiru irraa ooboo harka keetii guutadhuu hammaaradhuutii, qachaa irratti bittinneessi» jedhe. Namichille adoo ani dhagguu ol seene.

³ Yennaa namichi ol seene, dadi ol-gubba'aa ka koola qabanu Galma keessa gara kibbaatiin dhaabbataneeraniyyu; duumensille badhinna dalleya keessaa ka gara keessaa guute.

⁴ Ulfinni Mootii Waan Maraalle dada ol-gubba'aa ka koola qabanu irraa ka'ee gara gulantaa seensuma Galma Waaqaa dhage; duumensille Galma Waaqaa guute; Badhinna dalleya keessaalle calalaqa ulfinna Mootii Waan Maraatiin guutame.

⁵ Huuruun koola dada ol-gubba'aa ka koola qabanuu, akka qoonqoo Waaqi Waan Mara Dande'u yennaa dubbatuu, haga badhinna dalleya keessaa ka gara alaattitti dhageessitte.

⁶ Mootiin Waan Maraa namicha woyaa quncee talba'aa irraa hujante uffateeru saniin, «Dada ol-gubba'aa ka koola qabanu wodhakkaa korboota oddu'uu ibidda fuudhi» jedhee yennaa ajaje, inni yoosuma gara keessaa seenee korboo san keessaa takkattii bira dhaabbate.

⁷ Dada ol-gubba'aa ka koola qabanu san keessaa tokkochi harka ifii diriirsee ibidda odduu dada ol-gubba'aa ta koola qabanu jiru san irraa diqqaa isaa hammaaree, ooboo harka namicha woyaa quncee talba'aa irraa hujante uffateeruu san keessa keye; namichille ibidda san fudhatee gad baye.

⁸ Koola dada ol-gubba'aa ka koola qabanu san jalaan wonni harka namaa fakkaatu tokko mudhate.

⁹ Anille kunoo, dada ol-gubba'aa ka koola qabanu san biratti korboota afur dhagge. Dada ol-gubba'aa ka koola qabanu san tokko tokkooyyuu bira korboo tokko tokkotti jiraayyu; bifi korboota saniille akka dooqa, «Beerilos» jedhamuu calalaqa.

¹⁰ Bifi korboota san arfaniituu wol fakkaata; tokko tokkoon isaaniituu akka korboota wol keessa jiranuu ti.

¹¹ Korbooti sun yennaa deemanu, adoo gara hin galin gara dadi ol-gubba'aa ka koola qabanu sun deemanu gara arfanuu deeman. Korbooti fuula duraa gara dadi ol-gubba'aa ka koola qabanu deemanu yennaa deemanu, korbooti tuun adoo gara hin galin korboota fuula duraa gula deeman.

¹² Dada ol-gubba'aa ka koola qabanu san nafi isaanii martinuu duddi isaanii, harkii isaanii, koolli isaanii, korbooti isaaniille arfanuu naannoo irga ifii mara irraa ila hedduu qaban.

¹³ Korbooti sun, «Korboota konkolaattu» jedhantee waammantuun dhage'e.

¹⁴ Dadi ol-gubba'aa ka koola qabanu sun tokko tokkoon isaanii fuula afur qaban; ka qaraa fuula kormaa*, ka lammeesso'oo fuula namaa, ka sadeesso'oo fuula neenqaa, ka arfeesso'oo ammoo fuula risa'aa qabaniyyu.

¹⁵ Achiin duuba dadi ol-gubba'aa ka koola qabanu sun ol ka'ane; isaan kun dada ol-gubba'aa ka koola qabanu afur ta ani laga kebaarii biratti dhagge san.

¹⁶ Dada ol-gubba'aa ka koola qabanu sun yennaa deemanu, korbootille isaan cinaa deeman; dadi ol-gubba'aa ka koola qabanu lafa irraa ol ka'iisaaf koola ifii yennaa badhifatanu, korbootille isaan biraa hin goranu.

¹⁷ Ayyaanummaan dada lubbuu qabanu keessa jiru sun, korboota san keessalle waan jiruuf, dadi lubbuu qabanu sun yennaa dhaabbatanu korbooti sunille hin dhaabbatan; dadi lubbuu qabanu sun yennaa lafa irraa ol ka'an, korbooti sunille woliin ol ka'an.

¹⁸ Achiin duuba ulfinni Mootii Waan Maraa gulantaa seensuma Galma Waaqaa irraa ka'ee, addee dadi lubbuu qabanu jiranuun gubbaa dhaabbate.

¹⁹ Dadi ol-gubba'aa ka lubbuu qabanulle adoo ani dhagguu, koola ifii badhifatanee lafa irraa ol ka'ane deemanee; korbootille cinaa isaanii deemanee;

* **10:14** *Fuula kormaa: Afaan Ibrootaatiin Fuula Kiruubeliijedha.*

isaan seensuma karra Galma Mootii Waan Maraa, ta gara aduun baatuutitti dhaabbatane; ulfinni Waaqa Israa'eliille isaaniiin gubbaa jiraayyu

²⁰ Dadi ol-gubba'aa ka koola qabanu kun ka ani laga Kebaarii biratti Waaqa Israa'elii jalatti dhagge san. Anille akka isaan dada ol-gubba'aa ka koola qabanu te'ane beeke.

²¹ Tokko tokkoon isaanii fuula afurii fi koola afur qaban; koola isaanii jala wonni harka namaa fakkaatu tokko jiraayyu

²² Fuulli isaanii fuula dada ol-gubba'aa ka koola qabanu ka ani laga Kebaarii biratti dhagge woliin wol fakkaata; tokko tokkoon isaanii qajeelane gara duraa deemane.

11

Yerusaalem Irratti Murante

¹ Ayyaanni ol na fuudhee, gara seensuma karra Galma Mootii Waan Maraa ta gara aduun baatuu na geesse; achi seensuma karra sanii namooti diddamii shan jiran; odduu isaaniititti sooreyyii kolba'aa ilma Azurii Yaazaaniya'aa fi ilma Benaaya'aa Phelaatiyaa dhagge.

² Mootiin Waan Maraa anaan, «Ee ilma namaa! Namooti kun qachaa kana keessatti worra karoora hamaa baafatuu fi worra gorsa hamaa gorsu.

³ Isaan, «Yennaan nuuti mana ijaarru dhikaatteerti; qachaan kun okkote'e; nuutille akka foon okkotee keessa bulfatanuu ti» worra jedhu.

⁴ Tanaaf, ati raaga isaan irratti raagi; ee, ilma namaa itti raagi!» jedhe.

⁵ Achiin duuba ayyaanni Mootii Waan Maraa na irratti bu'ee, «Mootiin Waan Maraa, «Isin kolbaan Israa'elii akkana jettanee yaadattan; waan gara yaada keessanii dhufe san anille beekeera.

⁶ Isin qachaa kana keessatti nama bacaa ijeettaneertan. Karaa qachaa kanaa reeffaan guuttaneertan» jedhe.

⁷ «Tanaaf, Mootiin Waan Maraa, «Worri isin ijeettanee qachaa keessatti gattane foon; qachaan kunille okkote'e; ani ammoo qachaa kana keessaa isin hin baasa.

⁸ Isin shallaagaa sodaattaneertanii motii? Ani ammoo shallaagaa isinitti hin fida. Ani Gootaan Mootiin Waan Maraa tana dubbadheera.

⁹ Ani qachaa kana keessaa isin hin baasa; harka ormaalle'etti dabarsee isin kennee, isinitti hin mura.

¹⁰ Isin shallaaga'aan hin dhumattan; ani biyyuma teessan keessatti isinitti hin mura. Yenna san isin ani Mootiin Waan Maraa akka te'e hin beettan.

¹¹ Qachaan kun okkotee isiniif hin te'u; isinille isii keessatti foon hin teetanu; ani biyyuma teessan keessatti isinitti hin mura.

¹² Yenna san isin ani Mootii Waan Maraa akka te'e hin beettan. Isin akka seera gosa biyya adda addaa ta adaala keessaniititti hujjane malee, akka seerata kiyyaatitti hin ideenne; seera kiyyalle'eef hin ajajanne» jedha» jedhe.

¹³ Ani raaga adoo dubbatiiisatti jiruu, ilmi Benaaya'aa Phelaatiyaan du'e; anille fuulaan lafatti gad gombifamee, «Maalo'o, Gootaa Mootii Waan Maraa! Worra Israa'el keessatti baraaree hafe maraa ijjumaa fixu'uufi?» jedhe iyye.

Waadaa Waaqi Worra Booji'aneef Gale

¹⁴ Achiin duuba jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

¹⁵ «Ee ilma namaa! Worri Yerusaalem keessa jiru, obboleeyyan teeti, firootan keeti, kolbaa Israa'elii maraan, «Isaan Mootii Waan Maraa irraa fagaataneeran; latti tun qabeenna keenna akka teetu nu'uuf kennanteerti» jedhan.

¹⁶ «Tanaaf ati, «Gootaan Mootiin Waan Maraa: Ani isaan kaasee odduu gosa biyya adda addaa, biyya hedduu keessa isaan bittinneessulle, addee isaan dhaqanetti yennaa diqqo'oof addee woyyittii isaaniif te'eera jedha» jedhiin.

¹⁷ «Tanaaf ati, «Gootaan Mootiin Waan Maraa: Ani gosa biyya adda addaa biyya isaan itti bittinnowane keessaa isaan wolitti qabee, deebisee fidee, lafa Israa'elii deebisee isaaniif hin kenna.

¹⁸ Isaan yennaa achi deebi'ane, waan batti'ii fi waan diqachiisaa mara achi keessaa hin balleessan.

¹⁹ Ani akka isaan ijjumaa naaf addatamanu gadhaa addatamumma'aa isaaniif hin kenna; qalbii haareyalle isaan keessa hin keya. Gadhaa isaanii ka akka dhaka'aa isaan keessaa baasee, gadhaa isaanii ka foonii isaaniif hin kenna.

²⁰ Achiin duuba isaan ajaja kiyya hin muummessan; seera kiyyalle hin eegatan; isaan kolbaa tiyya hin te'an; anille Waaqa isaanii hin te'a.

²¹ Worra gadhaan isaanii waan batti'ii fi waan diqachiisaa gula deemu ammoo ani Gootaan Mootiin Waan Maraa akka hujii isaaniititti isaan hin adaba jedheera» jedhi» jedhe.

Ulfinni Waaqaa Yerusaalem irraa ka'e

²² Achiin duuba dadi ol-gubba'aa ka koola qabanu sun koola ifii badhifatan; korbootille cinaa isaanii jiraniyyu. Ulfinni Waaqa Israa'eliille isaaniin gubbaa jiraayyu.

²³ Ulfinni Mootii Waan Maraa qachaa wodhakka'aa ka'ee, gaara qachaa irraa gara aduun baatu jiru gubbaa dhaabbate.

²⁴ Ayyaanni ol na fuudhee, mudhii Ayyaana Waaqaatiin, gara worra booji'amee Baabilon keessa jiruu na geesse; achiin duuba mudhiin ani dhagge sun kaatee na irraa deente.

²⁵ Anille waan Mootiin Waan Maraa natti mudhise mara worra booji'ametti hime.

12

Raagichi Fakkeennaan Booji'amiisa Mudhise

¹ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

² «Ee ilma namaa! Ati worra finqilaa odduu leeta; isaan worra finqilaa waan te'aneef, ila dhaggitu adoo qabanuu hin dhagganu; gurra dhage'u adoo qabanuu hin dhage'an.

³ «Tanaaf, ee, ilma namaa! Meya fudhattee baatu qopheeffadhuutii, adoo isaan dhagganuu, guyya'aan akka nama booji'amee deemuutitti, addee jirtuu ka'iitii, gara addee dhibi'ii deemi. Isaan worra finqilaa akka te'ane hin hubatan fa te'a.

⁴ Akka nama booji'amee deemuu, adoo isaan dhagganuu guyya'aan meya keeti gad baafadhu; adoo isaan dhagganuu akka nama booji'amee deemuu galgalaan bayii deem.

⁵ Adoo isaan dhagganuu, dhaaba mana keeti ka dhaka'aa uriitii, meya keeti achiin baasi.

⁶ Adoo isaan dhagganuu meya keeti gurm'uutti kaafadhuutii, dimimmisaan ba'adhuu bayi. Ani Israa'elootaaf, beessisa waan si godheef, lafa akka hin dhaggine fuula keeti golladhuutii, dimimmisaan deemi» anaan jedhe.

⁷ Anille akkuma ajajame godhe; akka nama booji'amee bayuu galgalaan harkuma kiyyaan dhaaba manaa ka dhaka'aa uree, qowa saniin meya kiyya gad baafadhe; adoo isaan na dhagganuu meya kiyya gurm'uutti ba'adhee dimimmisaan ka'ee deeme.

⁸ Ganamaan jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

⁹ «Ee ilma namaa! Worri Israa'elii finqilaan sun, «Wonni ati hujiisatti jirtu kun maan?» jedhanee si hin gaafannee ree?

¹⁰ Ati isaaniin, «Gootaan Mootiin Waan Maraa: Kun qondaala Yerusaalem keessaatii fi kolbaa Israa'elii worra achi keessa le'u maraaf ergaa dabarte jedha» jedhiin.

¹¹ Ati isaaniin, «Ani isiniif beessisa. Akkuma ani godhe kana isin irralle'etti hin godhanti. Isin booji'antannee hin ideentan» jedhiin.

¹² Qondaalli odduu isaanii jiru meya ifii gurmu'utti ba'atee, dimimmisaan hin baya. Isaan akka inni urata san keessaan bayu dhaaba manaa ka dhaka'aa isaaf hin uran. Inni lafa akka hin dhaggine fuula ifii hin gollata.

¹³ Ani ammoo caccoo tiyya itti afee inni tiyyoo tiyyaan hin qabama. Ani gara qachaa Baabilonii ka lafa Kaldootaa isa geessa; garuu inni adoo qachaa san hin dhaggin achitti hin du'a.

¹⁴ Ani Tajaajiltoota isaatii fi loltoota isaa ka adaala isaa jiranu mara gara mara hin bittinneessa; ani shallaagaa buqqifadhee duubaan isaan hin ari'a.

¹⁵ «Yennaa ani gosa biyya adda addaattii fi biyya hedduu keessa isaan bittinneesse, isaan akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beekan.

¹⁶ Te'uu malee, addee dhaqanetti waan diqachiisaa hujane mara odduu gosa biyya adda addaattitti akka dhugaa bayanu, anille Mootii Waan Maraa akka te'e akka beekanu, ani isaan keessaa worra diqqaa shallaagaa, beelaa fi dhukkuba jalaa akka miliqanu hin godha» jedhe.

Beessisa Raagicha Sheephisuu

¹⁷ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

¹⁸ «Ee ilma namaa! Sheephisaa sagalee teeti nyaadhu; hollataa sodaataa bisaan keeti uni.

¹⁹ Kolbaa lafa tanaatiin, «Gootaan Mootiin Waan Maraa: Sababa hunnaan nama irratti ka'iisa worra isii keessa le'u maraatiin latti waan ontuuf, lafa Israa'elii worri Yerusaalem keessa le'u, sagalee ifii yaaddowaa hin nyaatan; bisaanille bararaqaa hin unan.

²⁰ Qachooti nami keessa jiru hin diigaman; lattille ona hin teeti; yennaa san isaan akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beekan jedha» jedhi» jedhe.

²¹ Ammalle jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

²² «Ee ilma namaa! Jechi isin marroo lafa Israa'eliitiif, «Barri achi dheera-teera; mudhiin takkaalle hin muummottu» jettanu kun maan inni?

²³ Tanaaf ati isaaniin, «Gootaan Mootiin Waan Maraa: Jechi kun akka hafu hin godha; isaan Israa'el keessatti haganaa achi akka fakkeenfaatitti hin dubbatanu jedha» jedhiin; ati ammoo isaaniin, «Kunoo barri mudhiin marti muummottu dhikaateera» jedhiin.

²⁴ Haganaa achi mudhiin dharraa yookiin moruun sossobiisaa kolbaa Israa'elii keessa hin jiraattu.

²⁵ Ani Mootii Waan Maraa waan te'eef, jecha dubbadhu hin dubbadha; jechi ani dubbadhe sunille dafee hin muummowa. Ee, isin worra finqilaa, waan dubbadhe maraa baruma keessan keessatti hin muummessa; ani Gootaan Mootiin Waan Maraa tana dubbadheera» jedhe.

²⁶ Ammalle jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

²⁷ «Ee ilma namaa! Kunoo, kolbaan Israa'elii, «Mudhiin inni dhaggu ta bara dheera'aan duuba teetu; raagi inni dubbatulle ka bara dheera'aan duuba te'u» jetti.

²⁸ Tanaaf, ati isaaniin, «Goottaan Mootiin Waan Maraa: Wonni ani dubbadhe marti hin teeti malee, hagonaa achi hin turtu; ani Goottaan Mootiin Waan Maraa tana dubbadheera jedha» jedhiin» jedhe.

13

Raaga Raagolee Dharaa Irratti Raagame

- ¹ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,
- ² «Ee ilma namaa! Raagota Israa'elii worra raaga raagiisatti jiranu irratti raaga dubbadhu; worra yaaduma ifii keessaa raaga dubbatanuun, «Jecha Mootii Waan Maraa dhage'a'a» jedhiin.
- ³ Mootiin Waan Maraa, raagota gowwoolee worra adoo waan tokkolle hin dhaggin, yaada ifii hordofee raaga dubbatuuf aanne'e.
- ⁴ Ee, kolbaa Israa'elii, raagoti teessan akka jeedala odduu bututa qacha'aa leetuu ti.
- ⁵ Guyyaa Mootiin Waan Maraa, lola te'u irraa hafee dhaabbachuu akka dande'u, gara dalleya cabee ol hin baane yookiin kolbaa Israa'eliitiif dalleya deebittanee hin ijaarre.
- ⁶ Isaan mudhii sobaa dhagganeeran; moruu dharaalle moriisatti jiran. Mootiin Waan Maraa adoo isaan hin ergin, isaan, «Mootiin Waan Maraa akkana jedha» jedhaa, jecha isaanii akka inni muummessu eegatan.
- ⁷ Isin adoo Ani Mootiin Waan Maraa hin dubbatin, «Mootiin Waan Maraa akkana jedha» yennaa jettanu, isin worra mudhii sobaa dhaggee fi moruu dharaa moree motii ree?» jedhe.
- ⁸ Tanaaf, Goottaan Mootiin Waan Maraa, «Dhara waan dubbattaneef, mudhii sobaalle waan dhaggitaneef, ani isinitti hin ka'a. Ani Mootiin Waan Maraa tana dubbadheera.
- ⁹ Harki kiyya raagota Mudhii sobaa dhagganuu fi moruu dharaa moranu irratti ka'eera. Isaan wolde'a kolbaa tiyyaa keessatti hin dhaggamanu; galmee kolbaa Israa'elii keessalle'etti hin barreeffamanu; lafa Israa'eliille'etti hin galanu; yennaa san ani Mootii Waan Maraa akka te'e hin beettan.
- ¹⁰ Isaan nageenni adoo hin jiraatin, «Nageya» jedhaa kolbaa tiyya dokonkorsan; yennaa kolbaan dalleya dhaka'aa laafaa ijaarrattu, raagoti tun dalleya san jabaa fakkeessiisaaf halluu adii diban.
- ¹¹ Tanaaf, worra halluu adii dibu saniin, «Bokkeenni baradaan hin dhufa; dhakaan bokkeyaa guddaan gad hin bu'a; bubbeen bokkeyaa hin bubbitti; dalleenni sunille hin jiga» jedhiin.
- ¹² Dalleenni dhaka'aa sun yennaa jige, «Halluun adiin isin itti dibattane sun meerree?» jedhanee isin hin gaafatanuu ree?» jedha.
- ¹³ Tanaaf, Goottaan Mootiin Waan Maraa, «Dalleenni sun jigee akka baduuf, ani mufii tiyyaan bubbee bokkeyaa hin erga; aarii tiyyaan bokkeya baradaa hin buusa; mufii tiyyaan dhakaa bokkeyaa guddaa hin roobisiisa.
- ¹⁴ Dalleya dhaka'aa ka isin halluu adii itti dibattane san hin jissa; haga hundeen isaa mudhattutti lafatti isa gad dhowa; yennaa dalleenni sun jigu isinille keessatti hin dhumattan; yennaa san akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beettan.
- ¹⁵ Ani mufii tiyya dalleya sanii fi worra dalleya san halluu adii dibe irratti aarii tiyya hin baafadha; achiin duuba ani isiniin: dalleenni sunii fi worri dalleya san halluu adii dibe sun hin jiranu;
- ¹⁶ raagoti Israa'elii worri marroo Yerusaalemii raage, nageenni adoo hin jiraatin, «Nageya» jedhanee, mudhii nageyaa worri dhagge hin jiranu; tana ana Mootii Waan Maraattitti dubbate.

¹⁷ «Ee ilma namaa! Ati fuula keeti gara dubartoota kolbaa teetii worra qalbii ifii keessaa fuudhee raaga raagu deebifadhu. Isaan irratti raagiitii,

¹⁸ Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Lubbuu kolbaa tiyyaa adansiisaaf, dubartoota xanoo ifitiif harka ifii mara irratti qudhaama hodhatanee, akka mataa nama adda addaatiif te'utti marata mata'aa qopheessanuuf aanne'e! Isin lubbuu kolbaa tiyyaa qaddanee, lubbuu teessan hamburattanii ree?

¹⁹ Isin garbuu ooboo takka'aatii fi daabboo baqaqa tokkoof jettanee, kolbaa tiyya worra soba isin dubbattanu dhage'anutti soba dubbatiisaan, namoota du'uuf hin malle ijeettanee, namoota jiraatu'uuf hin malle akka jiraatanu gootanee, kolbaa tiyya oddu'utti maqaa kiyya batteessitane» jedha» jedhi.

²⁰ Tanaaf, Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Kunoo, ani qudhaama isin lubbuu akka simbirre'ee ittiin adansitanu san irratti ka'ee, harka keessan irraa cicciree, kolbaa isin akka simbirre'ee adansitanu san bilisa hin baasa.

²¹ Marata mata'aa san irraa cicciree kolbaa tiyya harka keessan jalaa hin baasa; hagonaa achi isaan harka keessan jala hin galanu; isinille ani Mootii Waan Maraa akka te'e hin beettan.

²² «Worra balchaa ani addii hin kutachiisin, isin dharaan addii kutachiitane, worri hamaan jiru'uun jiraatiisaaf cubbuu irraa akka hin deebine jajjabeessitaneertan.

²³ Tanaaf, hagonaa achi isin mudhii dharaa hin dhaggitanu; moruulle hin mortanu; ani kolbaa tiyya harka keessan keessaa hin baasa; yennaa san ani Mootii Waan Maraa akka te'e hin beettan» jedha.

14

Worra Waaqota Dharaa Waaqonfatu Irratti Hin Muranti

¹ Jaarsoleen kolbaa Israa'elii gariin gara kiyya dhufanee, fuula kiyya dura tee'ane.

² Jechi Mootii Waan Maraalle gara kiyya dhufee,

³ «Ee ilma namaa! Jarri tun qalbii ifii waaqota dharaatiif kennaneeran; yakki isaanii akka isaan duratti gufuu te'u godhaneeran. Maarre ani akka isaan waan tokko na gaafatanu godhuu qabaa ree?

⁴ Tanaaf, ati isaanitti dubbadhuutii, Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Kolbaa Israa'elii mara keessaa nami qalbii ifii waaqota dharaatiif kenneeru, ka yakki gufuu itti te'eeru tokko, gara raagichaa yoo dhufe, ani Mootiin Waan Maraa akka bacinna waaqota dharaa isaatitti deebii isaaf hin kenna.

⁵ Isaan martinuu karaa waaqota dharaa ka ifitiin na lakkisaneeran; ani qalbii kolbaa Israa'elii mara gara kiyya deebifatiisaaf tana godha» jedha.

⁶ «Tanaaf, ati kolbaa Israa'eliitiin, «Gootaan Mootiin Waan Maraa: Cubbuu teessan irraa deebi'a'aatii, waaqota dharaa keessan lakkisa'a! Hujii teessan battii san mara irraa deebi'a'a!

⁷ ««Kolbaa Israa'elii mara keessaa yookiin worra ormaa ka odduu isaanii jiru mara keessaa nami tokko waaqota dharaatiif qalbii ifii kenniisaan, ka yakki gufuu itti te'eeru tokko, karaa raagichaatiin waan tokko na gaafatiisaaf gara raagichaa yoo dhufe, ani Mootiin Waan Maraa ifumaaf deebii isaaf hin kenna.

⁸ Ani nama sanitti fuula hin hammaadha; nama ittiin mammaakanu isa hin godha; kolbaa tiyya keessalle'ee isa hin baasa; isinille akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beettan.

⁹ ««Raagichi sun sobamee raaga yoo dubbate, ka raagicha san sobe ana Mootii Waan Maraa ti; ani harka kiyya isa irratti diriirsee, kolbaa tiyya Israa'el keessaa isa hin balleessa.

¹⁰ Raagichi akkuma namicha woy isa gaafatiisa dhufee san yakkaamessa hin te'a; isaan lamaanuu woluma qixxee hin adabaman.

¹¹ Kolbaan Israa'elii haganaa achi ana irraa hin gortu; yakkaa ifii maralle'een deebitee ifi hin batteessitu; isaan kolbaa tiyya hin te'an; anille Waaqa isaanii hin te'a jedha; Gootaan Mootiin Waan Maraa tana dubbateera» jedhi» jedhe.

¹² Ammalle jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

¹³ «Ee ilma namaa! Biyyi takka addatamuu dhabiisaan cubbuu na irratti yoo hujje, ani harka kiyya isii irratti diriirsee, sagalee irraa kutee beela itti hin buusa; namaa fi horiille isii irraa hin balleessa.

¹⁴ Dhiirti sadiin tun Nohi, Daani'elii fi Iyoob fa'a isii keessa adoo jiraatanelle'ee balchummaa ifitiin lubbuu ifii qofa baafatan; Gootaan Mootiin Waan Maraa tana dubbateera.

¹⁵ «Ani biyya san keessa bineensa hamaa ergee, bineensi sun ijoollee fixee, sababa bineensa hamaa sanii nami tokkolle isii keessa dabaruu dhabee, biyyi sun yoo onte,

¹⁶ dhiirti sadiin sun isii keessa adoo jiraattelle'ee, ani jiraata'a! Isaan lubbuu ifii qofa baafatan malee, ijoollee ifii ta dhiiraatii fi ta durraa baafatuu hin dande'anuu; lattiille ona hin teeti. Gootaan Mootiin Waan Maraa tana dubbateera.

¹⁷ «Yookiin ani biyya sanitti shallaagaa fidee, namaa fi bineensalle shallaaga'an biyya san irraa yoo fixe,

¹⁸ dhiirti sadiin sun biyya san keessa adoo jiraattelle'ee, ani jiraata'a! Isaan ifi qofa baafatan malee, ijoollee ifii ta dhiiraatii fi ta durraa baafatuu hin dande'anuu; Gootaan Mootiin Waan Maraa tana dubbateera.

¹⁹ «Yookiin biyya sanitti dhukkuba buusee, mufii tiyya itti dhangalaasiisaan ijeesee namaa fi bineensa isii irraa yoo fixe,

²⁰ Nohi, Daani'elii fi Iyoobille isii keessa adoo jiraatanelle'ee, balchummaa ifitiin lubbuma ifii qofa baafatan malee, ijoollee ifii ta dhiiraatii fi ta durraa baafatuu hin dande'anuu; Gootaan Mootiin Waan Maraa tana dubbateera.

²¹ «Gootaan Mootiin Waan Maraa: Namaa fi bineensalle isii irraa balleessiisaaf, shallaagaa, beela, bineensa hama'aa fi dhukkuba muraa tiyya hantuu arfan tana Yersaalem irratti yennaa fidu attam attam irra caalaa hantu'uree!

²² Te'uu malee, kunoo, worri jiru'uun Yersaalem keessatti hafanu ijoolleen dhiiraatii fi durraa hin jiran; yennaa isaan gara keessan dhufanu, isin akka isaan itti le'anuu fi hujiin isaanii hantuu akka teete yennaa dhaggitane, balaa ani Yersaalem irratti fide, waan hantuu ani isii irratti godhe mara irraa hin jajjabaattan.

²³ Isin akka isaan itti le'anuu fi hujiin isaanii hantuu akka teete yennaa dhaggitane hin jajjabaattan; wonni ani achi keessatti godhe martille sababa malee akka hin te'in hin beettan. Gootaan Mootiin Waan Maraa tana dubbateera» jedhe.

15

Yersaalem, Muka Woyni'ii Ka Bu'aa Hin Qannetti Fakkeeffante

¹ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

² «Ee ilma namaa! Muki woyni'ii muka dhibii, dameeleen isaa dameelee mukoota badda'aa attamiin caala?

³ Waan tokko ittiin hujiisaaf muki muka woyni'ii irraa muramee beekaa ree? Nami meya tokko itti fannifatiisaaf hookkoo isa irraa muratee beekaa?

⁴ Akka qoraanii ibiddatti naqameen duuba, ibiddi qaccee isaa lamaanuu gubee fixee, wodhakkaa isaalle yennaa xaa'ileesse, muki woyni'ii sun waan tokko ittiin hujjiisaaf bu'aa hin qabaa ree?

⁵ Kunoo, adoo hin gubatinuu muki woyni'ii sun womaa bu'aa hin qabu. Ibiddi gubee yennaa xaa'ileesse fa'a irra caala'aayyuu ka bu'aa hin qanne te'a.

⁶ «Tanaaf, Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Ani akkuma mukoota badda'aa keessaa, muka woyni'ii qoraaniif tolche, kolbaa Yersaalemiille akkasuma hin tolcha.

⁷ Ani isaan loliisaaf fuula kiyya gara isaanii hin deebifadha. Isaan ibidda jalaa miliqanulle ibiddumatti isaan fixa; yennaa ani isaan loliisaaf fuula kiyya gara isaanii deebifadhu, ani Mootii Waan Maraa akka te'e hin beettan.

⁸ Waan isaan naaf addatamuu diddaneef, anille lafa isaanii hin onsa» jedhee Mootiin Waan Maraa dubbateera» jedhe.

16

Yersaalem Addatamummaa Dhadde

¹ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

² «Ee ilma namaa! Hujii isi'ii battittii Yersaalemitti himi;

³ Gootaan Mootiin Waan Maraa, Yersaalemiin, «Hundee teetiin, dhaloota keetiin ati nama lafa Kana'aanii ti; abbaan keeti nama Amoorotaa ti; haati teetille worra Heetotaa ti.

⁴ Ati gaafa dhalatte hin handhuranne; akka qulqulloottuufille bisaaniin hin dhiqanne; sooddalle'een hin sukkuumanne; woayaalle'een hin maranne.

⁵ Ati gaafa dhalatte san waan jibbatanteef, diidatti gatante malee, nami ila mararti'iitiin si ilaalee, waan kana keessaa tokkumalle ka si'iif godhe hin jiru.

⁶ « «Ani yennaa achiin dabaru ati dhiiga keeti keessa irkattee dhidhiitat-tuun si dhaggee, ati dhiiga keeti san keessa adoo jirtuu: Jiraadhu! Siin jedhe.

⁷ Ani akka lattu diida keessaa si guddise. Ati guddattee dheeratte, durra geettuu dansittii teete; harmi keetille guntutee, rifeensi mataa keetiille guddateera; garuu ati qullaa akkuma gadhaa haadha teetii keessaa baateen jirta.

⁸ « «Ani ammalle yennaa achiin dabaru, kunoo ati intala kadhatamuu geette akka teete si dhaggee, si fuudhiisaaf woyaa tiyya sitti uffisee nafa keeti qullaa san gollee, ani si'iif kakadhee, si woliin gondoorroo godhadheera: ati tiyya teeteerta jedha, Gootaan Mootiin Waan Maraa.

⁹ « «Achiin duuba ani bisaaniin si dhiqee, dhiiga keeti irraa si qulqulleessee, zayitii ejersaalle si dibe.

¹⁰ Akkasuma woyaa nama hujii harkaa beekuun kuulantee dhowante sitti uffisee, kophee gogaa dansaa irraa hujante sitti keyee, woyaa quncee talba'aa dansa'aa fi haarrii irraa hujantelle sitti uffise.

¹¹ Faayaan si seese, irmuura sitti keyee, morma keetitti dirata dire.

¹² Funnaan keetille'etti qubee, gurra keetille'etti qubee gurraa, mataa keetille'etti kallacha dansaa keye.

¹³ Ati worqi'ii fi meeti'iin akkas seefante; woayaan teeti ta quncee talba'aa dansaa irraa hujantee fi ta haarri'iin nama hujii harkaa beekuun kuulantee dhowante. Ati bullaa dansa'aa fi damma, zayitii ejersaalle nyaatte; akka malee shaggittii teetee giittii te'iisaaf kaate.

¹⁴ Arnyi ani sii kenne shaggummaa teeti guutuu waan godheef, shaggummaa teetiin gurri keeti gosa biyya adda addaa oddu'utti beekkame jedha, Gootaan Mootiin Waan Maraa.

¹⁵ « «Ati ammoo shaggummaa teetitti addattee, sababa gurra keetiitiin nama karaa san dabaru mara woliin sagaagalte. Shaggummaan teeti ta nama karaa deemuu maraa teete.

¹⁶ Ati woyaa teeti keessaa garii fuutee, galma addee waaqonfanna'aa ka ittiin sagaagaltu seefatte. Wonni akkasii kun tanaan dura ijumaa te'ee hin beeku; gara duraalle ijumaa te'iisaaf hin malle.

¹⁷ Ati dooqa dansaa keeti ka worqi'ii fi meetii tiyya irraa hujame ka ani sii kenne sanille fuutee, waaqota dharaa ka fakkii dhiiraa hujattee isaan woliin sagaagalte.

¹⁸ Ati woyaa teeti ta nama hujii harkaa beekuun kuulantee dhowantelle isaanitti uffisiisaaf fuutee, zayitii ejersaa tiyyaa fi hixaana kiyya isaan dura keette.

¹⁹ Ammalle akka ati nyaattuuf sagalee ani sii kenne, bullaa qamadi'ii dansaa, zayitii ejersaatii fi damma, kennansa foolee dansaa qabu gootee isaan dura keette; wonni akkasii kun te'eera jedha, Gootaan Mootiin Waan Maraa.

²⁰ « «Sagaagalummaan teeti akka malee sitti diqqaannaan, ijoollee dhiiraatii fi ta durraa ta anaaf deettelle fuutee, akka nyaatamanuuf, waaqota dharaa keetiif ciincessitee,

²¹ ijoollee tiyya qaltee waaqota dharaa keetiif ciincaa dhikeessitee ree?

²² Hujii teeti ta battumma'aatii fi ta sagaagalummaa'aa tana maraan, bara dargaggummaa teetii ta qullaa teeti akka gadhaa haadha teetii keessaa baatetti dhiiga keessa irkattee dhidhiitattu san hin qaabanne.

²³ « «Anne'e, si'iif Anne'e!» jedha Gootaan Mootiin Waan Maraa; waan hantuu tana mara gooteen duuba,

²⁴ ati addee waaqonfanna'aa ifiif ijaarrattee, badhinna qachaa keessaa mara keessatti addee waaqonfanna'aa ifiif qopheeffatte.

²⁵ Qaccee kara'aa maratti addee waaqonfanna'aa teeti ijaartee, shaggummaa teeti batteessitee, worra karaa san dabaru maraaf ifi kennitee, sagaagalummaa teeti baceessite.

²⁶ Ati aari'itti na kakkaasiisaaf, worra ollaa keetii ka halchaa sagaa-galaatiin guutamane, worra Gibxi'ii wolille'een sagaagalte.

²⁷ Kunoo, tanaaf, ani si adabiisaaf harka kiyya diriirsee, diinota keeti worra joljolaa, ijoollee durraa ta Filisxeemotaa ta sababa hujii teeti ta sagaagalaatiin qaaneffatanetti dabarsee si kenneera.

²⁸ Ati waan hin quufiniif, worra Asoorii wolille'een sagaagalte; isaan wolille'een adoo sagaagaltuu haga ammaa sagaagala quufuu hin dandeenne.

²⁹ Ati lafa daldaltootaa worra Kaldootaa wolille'een sagaagala keeti baceessite; ati worra kana wolille'een sagaagala quufuu hin dandeenne.

³⁰ «Ati akka dubartii sagaagaltittii hin qaaneffannee, tana mara yennaa gootu yaadi keeti attam attam dadhaba'a ree? Jedha Gootaan Mootiin Waan Maraa.

³¹ Ati qaccee kara'aa maratti addee waaqonfanna'aa teeti ijaarrattee, badhinna qachaa keessaa maratti addee waaqonfanna'aa teeti qopheeffatteerta. Garuu ati akkuma dubartii sagaagaltittii takkaa, kaffaltii fuudhuu hin barbaanne.

³² Ati akka niitii gaarayyeeffattuu abbaa manaa ifi caalaa alagaa halchituu ti.

³³ Dhiirti dubartoota sagaagaltoota maraaf beesee kenniti; ati ammoo akka isaan karaa maraa dhufanee si woliin sagaagalanu, gaarayyoota teetiif beesee safu'uu isaaniif kennita.

³⁴ Maarre ati sagaagala keetiin dubartoota dhibii irraa adda teeteerta; nami sagaagaluu barbaadu ka si gula deemee si sossobatu hin jiru; ati ka

si woliin sagaagaluuf beesee kennitaaf malee, ka beesee si'iif kennu hin jiru; tanaaf ati dubartoota dhibii irraa adda.

Muraan Waaqaa Yerusaalem Irratti

³⁵ «Tanaaf, ee, sagaagaltitti'i, jecha Mootii Waan Maraa dhage'i!

³⁶ Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Halchaa sagaagalaatiin gubatee, worra si jaalatu woliin adoo sagaagaltuu nafa keeti qullaa waan mudhitteef, waaqota dharaa keeti diqachiisaa san maraaf dhiiga ijoollee teetii ciincaa waan dhikeessiteef,

³⁷ tanaaf ani kunoo gaarayyoota teeti worra ati woliin gammaddu mara, ka ati jaalatee fi ka ati jibbitelle adaala maraa wolitti qabee nafa qullaa keeti akka isaan dhagganuuf, woyaa sirraa mulqee isaan duratti qullaa si hambura.

³⁸ Ani muraan dubartoota gaarayyeeffatootaa fi dubartoota nama ijeettetti mure, si'itti hin mura; ani hinaaffaa tiyyaa fi mufii tiyyaan du'aan si hin adaba.

³⁹ Ani harka worra si jaalatu sanitti dabarsee si kennee, isaanille addee waaqonfanna'aa teetii addee ati waaqota dharaa itti waaqonfattu diigee hin balleessa; woyaa teetii fi dooqa keeti mara si irraa mulqanee, qullaa si hin hamburan.

⁴⁰ «Isaan gumii dhaka'aan si tumanu sitti hin kakkaasan; isaan shallaagaa ifitiin si hin kukkutan.

⁴¹ Isaan mana keeti mara ibiddaan hin guban; gumii dubartootaa duratti sitti hin muran; ani akka ati sagaagalummaa lakkittu si hin godha; haganaa achi worra si jaalatuuf gatii hin kaffaltu.

⁴² Achiin duuba aariin tiyya baatee, ani si hinaafiisa hin lakkisa. Ani hin cadhisa; deebi'eelle hin aaru.

⁴³ Ati hujii diqachiittuu hujje tana maraan na aarsitee, waan ani yennaa dargaggummaa teetii sii godhe waan hin qaabatiniif, ani gatii cubbuu teetii mara sii kaffaleera. Ati battummaa teeti mara irratti sagaagalummaalle hin dabalannee ree?» jedha Gootaan Mootiin Waan Maraa.

⁴⁴ «Ee, Yerusaalem! Kunoo nami mammaaku marti: Intalille akkuma haadhaa ti jedhaa si'iin hin mammaaka.

⁴⁵ Ati intala akka haadha teeti ta abbaa manaa ifitii fi ijoollee ifii diqatee ti; ati akka obboleeyyan teeti durraa, ta abbaa manaa ifitii fi ijoollee ifii diqatane ti; haati teessan intala worra Heetotaa ti; Abbaan keessanille nama worra Amoorotaa ti.

⁴⁶ «Obboleettiin teeti angafittiin, ijoollee ifii ta durraa woliin si irraa gara kaabaa jirtu, Samaariya'a; obboleettiin teeti maandhittiin, ta ijoollee ifii ta durraa woliin si irraa gara kibbaa jirtu, Sodoom.

⁴⁷ Atille karaa isaanii hordofatee hujii isaanii diqachiittuu san hujiisa qofa adoo hin te'in, yennaa gabaadduu keessatti karaa keeti maraan isaan caalaa waan badduu hujje.

⁴⁸ «Ani dhugumaan jiraata'a! Obboleettiin teeti Sodoomii fi ijoolleen isi'ii ta durraa, akka atii fi ijoolleen teeti ta durraa hujjane hin hunye, jedha Gootaan Mootiin Waan Maraa.

⁴⁹ Yakki obboleettii teeti Sodoomii kana: isi'ii fi ijoolleen isi'ii ta durraa hin kooran; sagalee bacaa, qananummaalle adoo qabanuu, worra rakkata'aa fi worra hiyyeeyyii hin qarqaarre.

⁵⁰ Isaan ifi jajanee, waan na diqachiisu mara fuula kiyya duratti hujane. Maarre ani yennaa waan kana dhagge, isaan achii balleesse.

⁵¹ «Samaariyaan gamisa cubbuu ati hujjeeyyuu hin hunye. Ati isaan caalaa waan diqachiittuu waan hujjeef, waan diqachiittuu hujje kana maraan isaan balchoolee fakkeessite.

⁵² Tanaaf ati isaan caalaa waan diqachiisu hujjee, cubbuu teetiin akka isaan balchoolee fakkaatanu waan gooteef, salphinna uffadhu! Cubbuun ati hujje guddoo ka diqachiittu waan teeteef, isaan si caalaa balchoolee fakkaataneeran. Maarre obboleeyyan teeti ta durraa akka isaan balchoolee fakkaatanu waan gooteef, qaaneffadhuutii, salphinna keeti uffadhu.

⁵³ «Te'uu malee, ani boojuu qananummaa sodoomiitii fi ta ijoollee isi'ii ta durraa, qananummaa Samaariya'aatii fi ta ijoollee isi'ii ta durraa yennaa deebisu qananummaa teetille ta isaanii woliin hin deebisa.

⁵⁴ Ati waan goote kana maraan cubbu'utti waan isaan jajjabeessiteef, salphinna keeti hin uffatta; hin qaanottalle'e.

⁵⁵ Obboleettiin teeti Sodoom ijoollee ifii ta durraa woliin akka duriititti hin deebi'an; Samaariyaalle ijoollee ifii ta durraa woliin akka duriititti hin deebi'an; atii fi ijoolleen teeti ta durraalle akka duriititti hin deebitan.

⁵⁶ Ati bara ifi jajju san obboleettii teeti Sodoom maqumaayyuu hin dhoonne.

⁵⁷ Ati adoo hammeenni keeti hin mudhatiniin dura tana gootee motii ree? Amma ammoo atille ijoollee durraa ta Edoomiitii* fi worra adaala isi'ii maraaf, ijoollee durraa ta Filisxeemotaatii fi worra adaala isi'ii maraaf waan murgo'oo teeteerta.

⁵⁸ Ati gatii sagaagalummaa teetiitii fi hujii diqachiittuu teetii ta akka dubartii sagaagaltitti'ii san fudhadhu, jedha Mootiin Waan Maraa.

Gondooroo Mootii Waan Maraa Ta Bara Baraa

⁵⁹ «Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Ati Gondooroo diigiisaan, kakuu tiyya waan tuffatteef, akkuma hujii teetiititti gatii si'ii hin kenna;

⁶⁰ te'uu malee, Gondooroo tiyya ta bara dargaggummaa teetii woliin gondooradhe hin dedhu; Gondooroo haga bara baraa si'iif hin godha.

⁶¹ Gondooroo si woliin godhadheef, adoo hin te'in, obboleeyyan teeti ta durraa angafitti'ii fi maandhittii akka isaan ijoollee teeti ta durraa isi'iif te'anuu yennaa ani si'iif kennu, ati hujii teeti ta durii yaadattee hin qaaneffatta.

⁶² Ani Gondooroo si woliin hin gondooradha; atille akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beetta;

⁶³ Ani waan ati hujje maraaf yennaa si'iif araarama, ati hujii teeti qaabattee waan qaaneffattuuf, sababa salphinna keetiitiif, deebitee afaan keeti hin seeqattu» jedha Mootiin Waan Maraa» jedhe.

17

Mammaassa Risa'aa Fi Muka Woyni'ii

¹ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

² «Ee ilma namaa! Ati hiibboo hiibbifadhuutii, kolbaa Israa'eliititti mammaasaan dubbadhu;

³ Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Risaan guddaan ka koola gudda'aa fi baala dhedheeraa dansaa bifa adda addaa qabu tokko gara gaara Libaanonii dhufee, qaccee hindheensaa qabate.

⁴ Inni qaccee san irraa kutee, lafa daldaltootaatitti geessee, qachaa daldaltootaa keessa keye.

* **16:57 Edoom:** Afaan Ibrootaatiin Aaram Jedha

⁵ Achiin duuba inni lafa Israa'elii keessaa sanyii fuudhee, lafa dansaa, addee bisaan guddaan jiru biratti akka muka laga qarqaraa tokkootitti dhaabe.

⁶ Sanyiin yennaa latte muka woyni'ii gabaabaa banqaaqaa teete. Dameen isaalle garuma isaa deebite; hiddi isaalle isuma jalatti hafe; maarre inni muka woyni'ii te'ee dameelee baca'aa fi baala bacaa yaafate.

⁷ «Ammalle risaan guddaan dhibiin ka koola gugurda'aa fi baala bacaa qabu dhufe; kunoo, muki woyni'ii sun akka inni bisaan isa obaasuuf, addee itti dhaabame sanii dameele'ee fi hidda ifii gara risaa sanii diriirfate.

⁸ Muki woyni'ii sun dameelee hedduu baasee midhaan akka buusu, muka woyni'ii dansaalle akka te'uuf, lafa dansaa irratti addee bisaan guddaan jiru biratti dhaabbameeraayyu» jedha.

⁹ «Goottaan Mootiin Waan Maraa, «Muki woyni'ii kun hin oshobaa ree? Hiddi isaa buqqifamee, midhaan isaa irraa harcaafamee, dameeleen isaalle akka goggoganu hin godhamuu ree? Dameeleen isaalle hin goggogan; hidda isaalle buqqisiisaaf, irree jadduu yookiin nama hedduu hin barbaachisu.

¹⁰ Kunoo, addee tana irraa buqqifamee addee dhibi'itti yoo dhaabame hin oshobaa ree? Qilleensi o'aan karaa aduun baatuu yennaa isa dhowe, addee itti oshobe sanitti ijjumaa hin qooruu ree?» jedha» jedhe.

Hiikkaa Waan kanaa

¹¹ Achiin duuba jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

¹² «Ati worra finqilaa kanaan, «Isin hiikkaa waan kanaa hin beettanii ree? Kunoo, mootiin Baabilonii gara Yerusaaalemii dhufee, mootii isi'itii fi qondaaltota isi'ii booji'ee fudhatee Baabilonitti hin deebi'a.

¹³ Inni sanyii mootota Yihuda'aa keessaa tokkocha fuudhee isa woliin gondoorroo godhatee, isa kakachiisee, isa woliin sooressitoota Yihuda'aalle fudhatee deeme.

¹⁴ Mootiin sun mootummaan Yihuda'aa gad jettee, adoo ol ifi hin qabin gondoorroo mootii Baabilonii san jabaattee akka eegattuuf tana godhe.

¹⁵ Mootiin Yihuda'aa ammoo mootii Baabilonii irratti finqila kaasee, fardoole'ee fi loltoota bacaa akka isaaf kennanu ergantoota gara Gibxi'ii erge. Tun isaaf hin milkoottii ree? Nami waan akkasii godhe miliquu hin dande'aa ree? Gondoorroo san diigee, miliquu hin dande'aa ree?» jedhi.

¹⁶ «Ani jiraataa, Goottaa Mootii Waan Maraa ti! Mootiin Yihuda'aa kun biyya Baabilonii biyya mooticha isa mootonsetti, kakuu isaa san tuffatee, gondoorroo isa woliin godhate waan diigeef, inni biyya baabilonii keessatti hin du'a.

¹⁷ Worri Baabilonii namoota bacaa ijjeesiisaaf kaabii dalleya dhaka'aatitti marsanee yennaa ijaaranu, mootiin Gibxi'ii loltoota ifii guddo'oo fi kolbaa bindillaa ifii woliin dhufee loliisaan isa qarqaaruu hin dande'u.

¹⁸ Inni kakuu san tuffatee, gondoorroo san diigeera. Kunoo, inni wolii galtee san diigee waan kana mara waan godheef, adabbii jalaa miliquu hin dande'u.

¹⁹ Tanaaf, ani jiraataa, Goottaa Mootii Waan Maraa ti! Kakuu tiyya ta inni tuffatee fi gondoorroo tiyya ta inni diige san mataa isaatitti hin deebisa.

²⁰ Ani caccoo tiyya isa gubbaa diriirsee, inni tiyyoo tiyyaan hin qabama; waan naaf addatamuu dhabeef gara baabilonii isa geessee, achitti itti hin mura.

²¹ Loltooti isaa worri beekkamane ka baqatiisatti jiranu marti shallaaga'aan hin ijjeefaman; worri jiru'uun hafelle gara mara hin bittinnowan; yennaa san akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beettan; ani tana dubbadheera» jedhe.

²² Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Ani ifuma kiyyaan qaccee hindheensa dheera'aa san irraa quunxoo kutee hin dhaaba; quunxoo san keessaa kichuu tokkocha fuudhee, ifuma kiyyaan gaara ol aanaa dheeraa irratti hin dhaaba.

²³ Ani gaara Israa'elii ol aanaa irratti isa hin dhaaba; inni achitti dameelee bacaa baasee, midhaanille buusee, hindheensa guddaa dansaa hin te'a. Sinbirreen gosa adda addaa marti isa jala hin leeti; gaaddisa dameelee isaa keessalle'etti mana hin ijaarratti.

²⁴ Yennaa san muki badda'aa marti akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beekan; ani muka dhedheeraa hin gaggabaassa; muka gaggabaabaa hin dhedheeressa; muka bibbisilee hin goggossa; muka goggogaa bisilee hin tolcha; ani Mootiin Waan Maraa dubbadheeraa, waan dubbadhe kana hin tolcha» jedhe.

18

Lubbuun Cubbuu Hujju Hin Duuti

¹ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

² «Marroo lafa Israa'eliitiif, mammaassi isin itti deddeebitanee, «Abbootiin midhaan woyni'ii dhangaggowaa nyaatte; ilkaan ijoolle'ee tutume» jettanu kun maan inni?

³ «Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Dhugumaan ani Gootaa Mootii Waan Maraa jiraata'a! Isin hagara achi lafa israa'elii keessatti mammaassa kana hin mammaattanu.

⁴ Lubbuun nama maraa tiyya; lubbuun abba'aa akkuma tiyya teete, lubbuun ilmaalle tiyya; lubbuun cubbuu hujju hin duuti.

⁵ « «Nami balchaan tokko waan haqaatii fi dhuga'aa yoo huje,

⁶ inni waan addee waaqonfanna'aa ta waaqota dharaa ta gaara irraatitti dhikaate hin nyaatu yookiin gara waaqota dharaa ka Israa'elii hin ilaalu; niitii namaa batteessu yookiin dubartii aadaan dubarti'ii irra jirtu bira hin gewu.

⁷ Inni waan qaddii qabate nama liqeeffate saniif hin deebisa malee, nama tokkolle hin cunqursu; nama hin saamu; ka beeloteef sagalee kenna; ka daare woyaa itti uffisa.

⁸ Dhalaan hin liqeessu yookiin dhala bacaa hin fudhatu; inni harka ifitiin cubbuu hin hujju; namaa fi nama wodhakka'atti muraa dhuga'aatii fi haqaa mura.

⁹ Inni seerata kiyya gula deema; seera kiyya addatamumma'aan eegata; inni balcha'a; dhugumaan inni lubbu'uun hin jiraata» jedha Gootaan Mootiin Waan Maraa.

¹⁰ «Te'uu malee, namichi sun ilma hunnaan nama irratti ka'u ka dhiiga namaalle dhangalaasu, ka waan kana keessaa takkattiille hujju yoo uumate,

¹¹ ta abbaan sun waan kana keessaa tokkolle hin hujin, ilmi isaa ammoo waan addee waaqonfanna'aa ta waaqota dharaa ta gaara irraa irratti dhikaate yoo nyaate, niitii namaalle yoo batteesse,

¹² hiyyeessaa fi rakkataa yoo cunqurse, yoo saame, qaddii qabate yoo deebisuu dhabe, gara waaqota dharaa yoo ilaale, waan diqachiisu yoo huje,

¹³ dhalaan yoo liqeesse, dhala bacaalle yoo fudhate, nami akkasii kun dhugumaan lubbu'uun hin jiraataa ree? Inni hin jiraatu; inni waan diqachiittuu tana mara waan hujjeef, dhugumaan hin du'a; dhiiga ifitiif isumatti itti gaafatama.

¹⁴ «Ilmi kun ilma yoo uumate, ilmi isaa kun cubbuu abbaan isaa huje mara ilaalee, cubbuu akka abbaa ifii yoo hin hujin,

¹⁵ waan addee waaqonfanna'aa ta waaqota dharaa ta gaara irraa irratti dhikaate yoo hin nyaatin, gara waaqota dharaa ka Israa'elii yoo hin ilaalin, niitii namaa yoo hin batteessin,

¹⁶ nama yoo hin cunqursin yookiin liqaa kenniisaaf qaddii yoo hin fudhatin, yoo hin saamin, ka beeloteef sagalee ifii yoo kenne, ka daare yoo uffise,

¹⁷ harka ifitiin cubbuu yoo hin hujin, dhalaan yoo hin liqeessin, dhala bacaa yoo hin fudhatin, seera kiyya yoo eegate, seerata kiyyalle yoo hordofe, inni dhugumaan lubbu'uun jiraata malee sababa cubbuu abbaa isaatiif hin du'u.

¹⁸ Abbaan isaa ammoo karaa haqa hin te'iniin beesee namaa waan fudhateef, nama ifii waan saameef, kolbaa ifii keessatti waan dansaa hin te'in waan hujeeff, kunoo inni cubbuu ifitiin hin du'a.

¹⁹ «Isin, «Ilmi sababa cubbuu abbaa ifitiif maaf hin adabamin ree?» jettan. Ilmi isaa haqaa fi waan sirrii te'e waan hujeeff, seerata kiyya mara waan eegateef, inni dhugumaan lubbu'uun hin jiraata.

²⁰ Lubbuun cubbuu hujje isiin hin duuti; ilmi cubbuu abba'aatiif, abbaalle cubbuu ilmaatiif hin adabamin. Balchummaan balcha'aaf laakkowantuu ti; hammeennille hama'aaf laakkowamuu ti.

²¹ «Nami hamaan cubbuu ifii hujje mara irraa deebi'ee seerata kiyya yoo eegate, waan haqa te'ee fi waan sirrii te'e maralle yoo hujje, inni dhugumaan lubbu'uun jiraata malee hin du'u.

²² Cubbuun inni hujje marti itti hin laakkowantu; inni balchummaa waan hujeeff lubbu'uun hin jiraata.

²³ Nami hamaan hammeenna ifii irraa deebi'ee akka lubbu'uun jiraatu malee, ani dhugumaan du'a isaatitti hin gammadaa ree? Jedha Gootaan Mootiin Waan Maraa.

²⁴ «Nami balchaan tokko ammoo balchummaa ifii irraa deebi'ee, waan digachiisu ka nami hamaan huju mara yoo hujje lubbu'uun hin jiraataa ree? Inni addatamummaa dhabee cubbuu waan hujeeff, hin du'a malee, balchummaa inni hujje marti isaaf hin laakkowantu.

²⁵ «Isin ammoo, «Karaan Goota'aa qajeela'a moti» jettan; ee kolbaa Israa'elii! Na dhage'a'a; karaan kiyya qajeela'aa motii ree? Ka qajeelaa hin te'in karaa keessanii motii ree?

²⁶ Nami balchaan balchummaa ifii irraa deebi'ee cubbuu yoo hujje cubuma saniin hin du'a; sababa cubbuu hujje saniitiif hin du'a.

²⁷ Nami hamaalle cubbuu ifii irraa deebi'ee haqaa fi waan sirrii te'e yoo hujje, lubbuu ifii hin baafata.

²⁸ Inni cubbuu hujje san mara hubatee irraa waan deebi'eef, jiru'uun jiraata malee hin du'u.

²⁹ Isin kolbaan Israa'elii ammoo, «Karaan Goota'aa qajeela'aa moti» jettan; ee kolbaa Israa'elii! Karaan kiyya qajeela'aa motii ree? Ka qajeelaa hin te'in karaa keessanii motii ree?

³⁰ «Tanaaf, «Ee kolbaa Israa'elii! Ani akka hujii teessaniititti tokko tokkoo keessanitti hin mura; cubbuu teessan irraa deebi'a'aatii, cubbuun teessan akka isin hin balleessine, cubbuu teessan mara lakkisa'a.

³¹ Cubbuu hujjane mara lakkisa'aatii, qalbii haareyaa fi Ayyaana haareya qabaadha'a; ee kolbaa Israa'elii! Isin maaf duutan ree?

³² Ani du'a namaatitti waan hin gammanneef, cubbuu irraa deebi'a'aatii jiru'uun jiraadha'a» jedha Gootaan Mootiin Waan Maraa.

- ¹ «Faaruu gaddaa qondaaltota Israa'eliitiif faarsa'aatii:
² «Haati teeti neenqota keessaa neenqa dhalaa attamii ti!
 Isiin neenqota dardara odduu ciittee,
 ilmoolee ifii guddifatte.
³ Isiin ilmoolee ifii keessaa tokkocha guddifatte;
 innille neenqa dardara te'e;
 adansee qabatiisa baratee, nama nyaate.
⁴ Gosi biyya adda addaa marroo isaa dhageette;
 inni boolla isaan qotane keessa seenee qabame;
 Isaanille hookkoo itti keyanee
 harkisanee gara biyya Gibxi'ii geessane.
⁵ Addiin isi'ii bu'aa akka hin qanne,
 wonni isiin eegatte akka isi'ii hin teene yennaa dhaggite,
 ilmoolee ifii keessaa ka dhibii fuutee guddittee,
 neenqa dardara goote.
⁶ Innille odduu neenqotaa asii fi achi ideeme;
 neenqa dardara te'ee
 adansee qabatiisa baratee, nama nyaate.
⁷ Inni kushee isaanii jadduu caccassee
 qachaa isaanii balleesse; lattii fi wonni isii keessaa marti
 dhangaa inni dhowuun sheephitte.
⁸ Achiin duuba gosi biyya adda addaa
 karaa maraan isatti kaate;
 isaan caccoo ifii isa irratti afanee,
 inni boolla isaan qotane keessa seenee qabame.
⁹ Hookko'oon harkisanee gooree sibiilaa keessa keyanee
 gara mootii Baabilonii geessane.
 Dhangaan inni dhowu
 gaarota Israa'elii irratti
 deebi'ee akka hin dhage'ane
 addee inni itti hidhamee eegamu keessa buusane.
¹⁰ Haati teeti muka woyni'ii
 ka bisaan qarqaratti dhaabane,
 ka sababa bisaan guddaa saniitiif
 midhaan bacaa buusee banqaqqe fakkaatti.
¹¹ Dameeleen isaa jajjabaattee,
 ulee bokku'uu ta bulchitootaa teete.
 Hojjaan isaatii fi dameeleen isaa bacaan,
 ciggaa keessaa ol dheeratanee mudhatane.
¹² Te'uu malee aari'iin buqqifamee lafatti gatame;
 qilleensi goomole'ee ka karaa aduun baatuu
 midhaan isaa qoorsee, irraa lafatti harcaasee goggosse;
 dameelee isaa jajjadduu sanille ibiddi nyaate.
¹³ Amma muki woyni'ii goomolee keessa
 addee bisaan hin jirre lafa goddu'utti dhaabame.
¹⁴ Qaccee damee muka woyni'ii guddittii keessaa
 ibiddi bayee midhaan isaa mara nyaate;
 dameen jadduun ulee bokku'uu ta bulchitootaa teetu,
 ijjumaa irratti hin hanne» jedhi.
 Tun faaruu gaddaa,
 ta yennaa gaddaa faarfatanu» jedhe.

20

Kolbaan Israa'elii Ajajamuu Didde

¹ Booji'annee woggaa torbeesso'oo keessa, ji'a shaneesso'oo, guyyaa kudhaneesso'oo, jaarsolee Israa'elii keessaa gariin, fedhii Mootii Waan Maraa gaafatiisaaf dhufanee, fuula kiyya dura tee'ane.

² Jechi Mootii Waan Maraalle gara kiyya dhufee,

³ «Ee ilma namaa! Waan Gootaan Mootiin Waan Maraa jedhu, jaarsolee israa'eliittii dubbadhu; ati isaanii, «Gootaan Mootiin Waan Maraa: Isin gaaffii na gaafatiisaaf dhuttanee? Dhugumaan ani jiraata'a! Ani akka isin gaaffii na gaafattanu hin eeyyamu jedha» jedhiin.

⁴ «Ee ilma namaa! Ati isaanitti hin murtaa ree? Dhugumaan ati isaanitti hin murtaa ree? Waan diqachiisaa abbootiin isaanii hujje akka qaabatanu,

⁵ ati isaanii, «Gootaan Mootiin Waan Maraa: Ani yennaa Israa'el filadhe, gaafa sanyii Yaaqoobiitiif kakadhe, biyya Gibxi'ii keessatti ifi isaanitti mudhisee: Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan jedhee isaaniiif kakadhe.

⁶ Gaafa san biyya Gibxi'ii keessaa isaan baasee, gara lafa isaaniiif abuuree, lafa aananii fi dammaa, ta lafa biyya lafaa mara caalaa toltuu san isaan galchiisaaf, isaaniiif kakadhe.

⁷ Ani isaanii: Tokko tokkoon keessan waaqota dharaa diqachiisaa ilti teessan ilaaltu san gata'a; waaqota dharaa ka Gibxi'iitiin ifi hin batteessina'a; ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan jedheen.

⁸ Isaan ammoo na finqilane na caqasiisa didane. Isaan waan diqachiisaa ilti isaanii ilaaltu san hin ganne; waaqota dharaa ka Gibxi'ii sanille waaqonfatiisa hin lakkinne. Achiin duuba ani biyya Gibxi'ii keessatti mufii tiyya isaan irratti dhangalaasee aarii tiyyalle baafatiisaaf hedeeyyu.

⁹ Te'uu malee worra isaan keessa le'ane, ka adoo isaan dhagganuu ani Israa'eloota biyya Gibxi'ii keessaa baasiisaaf kakadhe, gosa biyya adda addaa san duratti maqaan kiyya akka hin salphanneef jedhee tana godhe.

¹⁰ «Maarre ani biyya Gibxi'ii keessaa isaan baasee, gara goomole'ee isaan fide.

¹¹ Nami yoo eegate akka ittiin jiru'uun jiraatuuf, ani seerataa fi seera kiyya isaaniiif kenne.

¹² Ka isaan woyyoonsu ana Mootii Waan Maraa akka te'e akka beekanuuf, anaa fi isaan wodhakka'atti beessisa akka te'uuf Sanbata kiyyalle isaaniiif kenne.

¹³ Kolbaan Israa'elii ammoo goomolee keessatti na finqilte; seerataa fi seera kiyya ka nami yoo eegate jiru'uun jiraatu hordofuu didde; isaan Sanbata kiyyalle guddoo salphisane. Achiin duuba ani goomolee keessatti mufii tiyya isaan irratti dhangalaasee isaan balleessiisaaf hedeeyyu.

¹⁴ Te'uu malee gosa biyya addaa ta isaan adoo dhagganuu biyya Gibxi'ii keessaa isaan baase duratti maqaan kiyya akka hin salphanneef jedhee ani tana godhe.

¹⁵ Garuu lafa biyya lafaa mara caalaa toltu, ta aananii fi dammaa ta isaaniiif kenne sanitti akka isaan hin galchine goomolee keessatti isaaniiif kakadhe.

¹⁶ Isaan waaqota dharaa hordofanee, seera fi seerata kiyya didanee Sanbata kiyyalle waan salphisaneef tun teete.

¹⁷ «Teetulle, ani isaan mararee isaan hin balleessine yookiin goomolee keessatti isaan akka fixamanu hin tolchine.

¹⁸ Ani goomolee keessatti ijoollee isaaniiitiin, «Seerata abbootii teessanii hin hordofina'a; seera isaanille hin eegatina'a; waaqotaa dharaa ka isaaniiif ille'een ifi hin batteessina'a.

¹⁹ Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan; seerata kiyya hordofa'a; seera kiyyalle eegadha'aatii muummessa'a.

²⁰ Anaa fi isin wodhakka'atti beessisa akka te'u, ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan akka te'elle akka beettanu Sanbata kiyya woyyicha ulfeessa'a» jedhe.

²¹ «Ijoolleen isaanii ammoo na finqilane; isaan seera kiyya ka nami yoo eegate jiru'uun jiraatu san hin hordofanne; seera kiyyalle jabaatanee hin eeganne; Sanbatalle salphisane; achiin duuba ani goomolee keessatti mufii tiyya isaan irratti dhangalaasee, aarii tiyya baafatiisaaf hedeeyyu.

²² Te'uu malee, gosa biyya adda addaa ta adoo isaan dhagganuu Israa'eloota biyya Gibxi'ii keessaa baase duratti maqaan kiyya akka hin salphanneef jedhee harka kiyya deebifadhe.

²³ Gosa biyya adda addaa keessa akka isaan bittinneessuu fi biyya hedduu keessa akka isaan facaasulle goomolee keessatti isaaniif kakadhe.

²⁴ Sababa isaan waaqota dharaa ka abbootii ifii ilaalanee, seera kiyyaaf ajajamuu dhabanee, seerata kiyya didanee Sanbata kiyyalle salphisaneef ani tana godhe.

²⁵ «Kana irralle'etti, seerata dansaa hin te'inii fi seera isaan jiruu ittiin hin dhagganee isaaniif kenne.

²⁶ Ani Mootii Waan Maraa akka te'e akka beekanuuf, ijoollee ifii angafoota mara ciincaa dhikeessanuun akka battowanu isaan lakkisee, naasuulle isaanitti buuse jedha» jedhiin.

²⁷ «Tanaaf, ee ilma namaa! Ati kolbaa Israa'eliititti dubbadhuutii, «Gootaan Mootiin Waan Maraa: Abbootiin teessan naaf addatamummaa dhabanee, tanalle'een na faanshessane.

²⁸ Ani gara lafa isaaniif kenniisaa kakadhee san yennaa isaan galche, achiin duuba isaan koobota dhedheertuu yookiin mukoota baala bisile'ee yennaa dhaggane mara, achitti ciincaa ciincessanee, kennansa aari'itti na kakkaasu dhikeessanee, kennansa foolee dansaa qabu, kennansa daadhii woyni'ii dhangalaasane jedha» jedhi» jedhe.

²⁹ Anille isaaniin: «Addeen isin dhaqaartanu ka, «Baamaa» jedhamanu kun «Maan inni?» jedhee gaafadhe. «Baamaa» jechuun, «Addee waaqonfanna'aa» jechu'u. Maarre addeen sun haga adhaa, «Baamaa» jedhaman.

³⁰ Tanaaf, ati kolbaa Israa'eliititti dubbadhuutii: Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Isinille akkuma abbootii teessanii waaqota dharaa diqachiisaa san waaqonfattanee ifi batteessitanii?

³¹ Isin kennansa keessan yennaa dhikeessitanu, ijoollee teessan kennansa ibiddaan gubamu yennaa kennitanu, waaqota dharaa keessaniin haga adhaa ifi batteessitan. Ee, kolbaa Israa'elii akka isin woy na gaafattanu hin godhaa ree? Ani jiraata'a! Ani akka isin woy na gaafattanu hin godhu» jedha, Gootaan Mootiin Waan Maraa.

³² Isin qalbii teessan keessatti, «Nuutille akkuma gosa biyya adda addaa, akkuma kolbaa biyya heddu'uu mukaa fi dhaka'atti sagadanuu teenuu ti» ka jettanu ijumaa hin teetu.

Mootiin Waan Maraa Israa'el Ade'etti Hin deebisa

³³ «Mootiin Waan Maraa, «Ani jiraata'a! Dhugumaan ani irree tiyya jaddu'uun, harka kiyya diriirsee, mufii tiyyalle isin irratti dhangalaasee isin irratti mootii hin te'a.

³⁴ Ani irree tiyya jaddu'uun, harka kiyya diriirsee, mufii tiyya dhangalaasee, biyya hedduu addee isin itti bittinnootane gosa biyya adda addaa keessaa wolitti isin hin qaba.

³⁵ Ani gara goomolee gosa biyya adda addaa isin fidee, achitti fuula kiyya duratti isinitti hin mura.

³⁶ Goomolee biyya Gibxi'ii keessatti akkuma abbootii teessanitti mure, akkasuma isinitti hin mura.

³⁷ Ani laakkowiisaaf ulee tiyya jala isin hin dabarsa; hidhaansa gondoorroo tiyyaa keessa isin hin galcha.

³⁸ Ani worra finqila'aa fi worra na yakke isin keessaa adda hin baasa; lafa isaan amma alagaa te'anee keessa le'anuu keessaa isaan hin baasa; garuu isaan gara lafa Israa'elii hin galanu; achiin duuba isin akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beettan» jedha.

³⁹ «Ee, kolbaa Israa'elii! Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Isin amma yoo naaf hin dhageenne teete, tokko tokkoon keessan dhaqa'aatii, waaqota dharaa keessan tajaajila'a! Ammoo hagara achi maqaa kiyya woyyicha waaqota keessanii fi kennansa keessaniin hin batteessina'a.

⁴⁰ Gaara kiyya woyyicha, gaara Israa'elii ka irra caalaa ol dheeratu irratti, achitti kolbaan Israa'elii marti, lafa sanitti isaan marti na hin tajaajilan. Anille achitti isaan hin fudhadhaa, kennansa isaaniitii fi kennansa isaanii ka mata'aa kennansa isaanii woyyicha mara waliin isaan irraa barbaada» jedha, Gootaan Mootiin Waan Maraa,

⁴¹ «Gosa biyya adda addaa keessaa isin baasee, biyya isin itti bittinnootane keessaa yennaa isin wolitti qabu, akka foolee dansa'aa isin hin fudhadha; gosa biyya adda addaa duratti woyyummaa tiyya odduu teessanitti hin mudhisa.

⁴² Biyya ani abbootii teessanii kenniisaaf kakadhe, gara lafa Israa'elii ani yennaa isin galchu, ani Mootii Waan Maraa akka te'e hin beettan

⁴³ Achitti akka itti leetane maraa fi hujii teessan ta ittiin ifi batteessitane mara hin qaabattan; hujii hantuu hujjane maraaf ifi hin jibbitan.

⁴⁴ Ee, kolbaa Israa'elii! Akka le'ii teessan hantuu saniitii moti; akka hujii teessan badduu saniille'ee moti; maqaa kiyyaaf jedhee yennaa ani tana isiniif godhu, ani Mootii Waan Maraa akka te'e hin beettan» jedha, Mootiin Waan Maraa» jedhe.

Ibidda Gara Kibbaatiin Ka'u

⁴⁵ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

⁴⁶ «Ee ilma namaa! Fuula keeti gara kibbaa deebifadhuutii, biyya kibbaatitti lallabi; gongomaa biyya kibbaa irratti raaga dubbadhu.

⁴⁷ Gongomaa biyya kibbaatiin, «Jecha Mootii Waan Maraa dhage'i» jedhi; Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Kunoo, ani ibidda si keessatti hin bobeessa; ibiddi sun muka jiidha'aa fi gogaa si keessa jiru mara gubee hin fixa; bobeenni bobe'u sun hin dhaamu; lafa san mara kibbaa haga kaabaatitti hin guba.

⁴⁸ ««Ani Mootiin Waan Maraa akka ibidda san bobeesse, nami marti hin dhagga; ibiddi sun hin dhaamu» jedha» jedhe.

⁴⁹ Achiin duuba ani, «Maalo'o, Gootaa Mootii Waan Maraa! Isaan, «Inni fakkeennaan dubbataa motii ree?» naan jedhan» jedhe.

21

Shallaagaa Mootii Waan Maraa

¹ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

² «Ee ilma namaa! Fuula keeti gara Yersaaleemii deebifadhuutii, gara addee waaqonfanna'aa ta isi'ii irratti lallabi; lafa Israa'elii irratti raaga dubbadhu.

³ Lafa Israa'eliitiin, «Mootiin Waan Maraa: Kunoo, ani si irratti ka'eera; shallaagaa kiyya gonofaa isaa keessaa buqqifadhee, balchichaa fi cubbaalessalle si irraa hin balleessa.

⁴ Ani balchichaa fi cubbaalessalle si irraa waan balleessuuf, shallaagaan kiyya nama mara irratti kibbaa haga kaabaattitti gonofaa keessaa hin buqqifama.

⁵ Nami marti akka ani Mootiin Waan Maraa shallaagaa kiyya gonofaa isaa keessaa buqqifadhe hin beeka. Shallaagaan sun deebi'ee gonofa'atti hin deebi'u jedha» jedhi.

⁶ «Ee ilma namaa! Ati aadi; qalbii gad jettee fi gadda hadhowuun isaan duratti aadi.

⁷ Yennaa isaan, «Maaf aadda?» siin jedhane, ati isaaniin, «Marroo oduu dhufaartuutiif aada; yennaa wonni kun dhuttu, onneen marti hin baxxi; harki marti hin laashowa; lubbuun marti hin gaggaddi; jilbi marti bisaan hin te'a. Kunoo, wonni kun hin teeti; hin muummottille'e, jedha Mootiin Waan Maraa» jedhiin» jedhe.

⁸ Ammalle jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

⁹ «Ee ilma namaa! Ati raagiitii, «Mootiin Waan Maraa: Shallaagaa tokko! Shallaagaa tokko! Ka qaramee morodame;

¹⁰ qaliisaaf ka qaram; akka balaqqeetti'ii balaqqisiisaaf ka morodame! Kolbaan tiyya ifi eeggachisiisaa fi adabbii mara waan tuffatteef haganaa achi firinxiixi hin jiraa ree?

¹¹ Shallaagaan harkatti akka qabatamu morodamiisaaf kennameera; shallaagaan kun ka nama ijjeesutti kennamiisaaf qaramee morodame.

¹² Ee ilma namaa! Shallaagaan kun kolbaa tiyyaa fi qondaaltota Israa'elii mara waan balleessuuf iyyii wiiccifadhu. Isaan kolbaa tiyya woliin hin ijjeefaman. Tanaaf gaddaan qoma teeti dhowadhu.

¹³ Dhugumaan haga ilaallatamiis hin dhufa; cubbuu irraa yoo hin deebi'in kun marti isaan irratti hin te'a» jedha Mootiin Waan Maraa.

¹⁴ «Ee ilma namaa! Raagi. Harka keeti aari'iin dhowi; shallaagaan nama qalu yennaa lama, yennaa sadille isaan dhowuu ti; shallaagaan nama bacaa qalu gara maraan isaan marseera.

¹⁵ Onneen isaanii baxxee, hedduun isaanii akka gufatanu, karra isaanii mara duratti ani shallaagaa nama qalu isaan dura keyeera; kunoo, shallaagaan akka balaqqisuuf morodameera; ittiin qaliisaafille buqqifameera.

¹⁶ Ee, shallaaga'a! Gara middaatititti, gara bita'aalle'etti, garuma qarri keeti itti fuula galetti muri.

¹⁷ Anille harka kiyya aari'iin hin dhowa; aarii tiyyalle hin baafadha; ani Mootiin Waan Maraa tana dubbadheera» jedhe.

Shallaagaa Mootii Baabilonii

¹⁸ Ammalle jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

¹⁹ «Ee ilma namaa! Karaa lama ka mootiin baabilonii shallaagaa qabatee dhufu fakkii kaasi; fakkiin kara'aa sun lamaanuu biyya tokko keessaa ka'uu ti; addee fakkiin kara'aa sun gara qacha'aa irraa gorutti beessisa dhaabi.

²⁰ Karaa shallaagaan qachaa Amoonotaa Raabaattitti dhufu fakkii tokko, karaa shallaagaan biyya Yihuda'aa qachaa Yerusaalemii ka dalleya dhaka'aa qabu dhufutti fakkii tokko kaasi.

²¹ Mootiin Baabilonii gorsuma kara'aa irra hin dhaabbata; moru'uun karaa itti goru beekiisaaf daayaan hixaa buufata; waaqota ifi ka dharaa gorsa hin gaafata; moora* horii qalamee hin ilaallata.

* **21:21** Moora: Worri Baabilonii tiruu ilaallatan.

²² Waan dalleya dhaka'aa ittiin diigu akka dhaabu, galiisaaf ajaja akka baasu, iyya lolaalle akka dhageessisanu, waan dalleya dhaka'aa ittiin diigu karra qacha'aa duratti akka dhaabu, biyyee tuulee akka kushee ijaaru, kunoo, hixaa daayaa ka gara Yersaaleemii akka inni deemu isatti himu harka middichatti qabateera.

²³ Worra Yersaaleemii ka isa woliin kaku'uun wolii galaneef moruu dharaa hin fakkaatti; mootiin Baabilonii ammoo cubbuu isaanii isaan issee isaan hin booji'a.

²⁴ Tanaaf, Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Cubbuun teessan mudhatteerti. Isin yakkaameyyii akka teetane nami marti hin beeka; isin waan hujjane maraan cubbuun teessan mudhatteerti. Tanaaf, ani akka isin booji'anuuf, diinota keessanitti dabarsee isin hin kenna.

²⁵ « «Atille ee qondaala Israa'elii batticha hamaalessa! Guyyaan muumme'ee ka ati adabantu dhufeera.

²⁶ Gootaan Mootiin Waan Maraa: Marata mata'aa ifi irraa hiikadhu! Kallachalle ifi irraa baafadhu! Wonni akka amma jirutti hafu hin jiru. Worri gad qabame ol qabama; worri ol qabame gad qabama.

²⁷ Badii, badii, badii ani Yersaaleemitti hin fida. Haga abbaan mura'aa ka ani Yersaalem akka balleessu itti kennu sun dhufutti badiin tun hin teetu; ani Yersaalem isatti hin kenna» jedha.

Shallaaga'aa fi Worra Amoonotaa

²⁸ «Ee ilma namaa! Ati marroo worra Amoonotaatii fi marroo murgoo isaanii raagiitii, Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Shallaaga'a! Shallaaga'a!

Gonofaa keessaa buqqifami;

akka ijeettuuf balaqqisiisaaf morodami.

²⁹ « «Isaan mudhii dharaa si mootii Baabiloniitiif dhaggane; moruu sobaa si mootii Baabiloniitiif morane; morma worra batticha hamaaleyyi'ii ka guyyaan isaanitti muramu geyee, ka muummeen yennaan isaanii geette irra shallaagaan keeti hin keyama.

³⁰ « «Ati shallaagaa gonofa'atti deebisi! Ani addee ati itti dadantetti, biyya itti dhalattetti sitti hin mura.

³¹ Ani aarii tiyya ta akka bobe'a ibiddaa si irratti hin dhangalaasa; harka worra nama balleessiisaan beekkametti dabarsee si hin kenna.

³² Ati ibiddaan hin badda; dhiigi keeti biyyuma teeti keessatti hin dhangala'a; ani Mootiin Waan Maraa tana waan dubbadheef, hagonaa achi nami deebi'ee si qaabatu hin jiru» jedha Mootiin Waan Maraa» jedhe.

22

Yakkaa Yersaaleemii

¹ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyaa dhufee,

² «Ee ilma namaa! Ati itti hin murtuu ree? Qachaa dhiiga namaa dhangalaasu kanatti hin murtuu ree? Maarre waan diqachiisaa inni huje mara itti mudhisi.

³ Ati qacha'aan, «Mootiin Waan Maraa: Ati qachaa wodhakkaa keetitti dhiiga dhangalaattu, ka waaqota dharaatiin ifi batteessitu, guyyaan keeti geyeera.

⁴ Ati dhiiga dhangalaatteen yakkaamessa teeteerta; waaqota dharaa ka hujjelle'een battootteerta; ati guyyaa keeti gabaaffateerta; muummeen bara keetii geyeera. Tanaaf ani gosa biyya adda addaatiif murgoo, biyya hedduu maraaf waan taphaa* si hin godha.

* **22:4** Waan taphaa: Yookiin waan qacoo

⁵ Worri dhikoo teeti jiruu fi worri si'i irraa fagoo jiru sitti hin murgan; maqaan keeti battowee, qachaa hoga'aan guutame hin teeta.

⁶ Kunoo, qondaaltoti Israa'elii worri si keessa jiru tokko tokkoon isaanii akkuma hunna ifiititti dhiiga dhangalaasan.

⁷ Si keessatti abba'aa fi haati hin tuffataman; worri alagaan hin cunqurfaman; ijoolleen haadhaa fi abbaa hin qannee fi haadhotiin hiyyeessaa hin miicaman.

⁸ Ati meya kiyya woyyicha tuffattee, Sanbata kiyyalle salphitteerta.

⁹ Namooti dhiiga dhangalaasiisaaf hamatanu si keessa jiran; kolbaan gaarota addee waaqonfannaa waaqota dharaa irratti waan ciinceffame nyaattulle si keessa jirti; isaan si keessatti sagaagalan.

¹⁰ Namooti si keessatti niitii abbaa ifii woliin rafan; isaan dubartii aadaan dubarti'ii itti dhutteertu hunnaan woliin rafan.

¹¹ Tokko tokko niitii namaa woliin waan nama diqachiisu hujan; ka dhibiin niitii ilma ifii batteessa; ka dhibiin intala abbaa ifii, obboleettii ifii hunnaan woliin rafa.

¹² Si keessatti isaan dhiiga dhangalaasiisaaf safuu fudhatan; ati liqaa dha-laatii fi bu'aa haqa hin te'in nama irraa fudhattee saamaan durommatteerta; ijjumaa na deeteerta.

¹³ «Kunoo, ani bu'aa ati haqa malee dhaggattee fi dhiiga si keessatti dhangala'eef ani aari'iin harka kiyya hin dhowa.

¹⁴ Guyyaa ani si adabu lapheen teeti hin jajjabaattii ree? Yookiin irreen teeti hin jabaattii ree? Ani Mootiin Waan Maraa tana dubbadheera; ani waan kana hin godha.

¹⁵ Ani biyya hedduu gosa biyya adda addaa keessa si bittinneessee, battummaa teeti mara si keessaa hin balleessa.

¹⁶ Gosa biyya adda addaa duratti hujuma teetiin battii teetee, akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beetta jedha» jedhi» jedhe.

¹⁷ Ammalle jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

¹⁸ «Ee ilma namaa! Kolbaan Israa'elii solloqqee natti te'aneeran; isaan martinuu akka sageettuu, qorqooroo, sibiilaa fi irsaasa addee sibiila itti baqisiisanu keessaa ti; isaan solloqqee meeti'ii te'aneeran.

¹⁹ Tanaaf Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Isin martinuu solloqqee waan teetaneef, kunoo, ani Yersaalem keessatti wolitti isin hin qaba.

²⁰ Akkuma namooti meetii, sageettu'uu fi sibiila, irsaasaa fi qorqooroo addee sibiila itti baqisiisanutti baqisiisiisaaf ibidda itti buufanu, anille aarii tiyyaa fi mufii tiyya keessatti wolitti isin qabee akka baxxanu isin hin godha.

²¹ Ani wolitti isin qabee, ibidda mufii tiyyaa isinitti buufee, isinille mufii tiyya keessatti hin baxxan.

²² Akkuma meetiin addee sibiila itti baqisiisanu keessatti baxxu, isinille mufii tiyya keessatti hin baxxan; yennaa san ani Mootiin Waan Maraa mufii tiyya akka isin irratti dhangalaase hin beettan» jedha» jedhe.

Cubbuu Soorressitoota Israa'elii

²³ Ammalle jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

²⁴ «Ee ilma namaa! Ati lafaan, «Ati woyyittii waan hin te'iniif, guyyaa mufii tiyyaa bokkeenni si irratti hin roobu.

²⁵ Malli raagota isi'ii wolitti deebi'anee akka neenqa waan ijjeese kukkutataa dhangaa dhowuu ti; isaan kolbaa ijjeesane, beese'ee fi qabeenna dhaggane mara fudhatan; ijjeechaa isaaniitiin haadhotii hiyyeessaa baceessane.

²⁶ Hayyooti isi'ii seera kiyya cassaneeran; waan woyyuu te'e hin kaba-janu. Isaan waan woyyuu te'ee fi waan battii te'e addaan hin baasanu;

isaan garaagarummaa waan qulqullu'uutii fi waan qulqulluu hin te'inii hin barsiisanu; Sanbatalle lakkisaneeran; tanaaf ani odduu kolbaa Israa'eliititti ulfinna dhabeera.

²⁷ Qondaaltoti isi'ii akka yayyii waan nyaatte kukkuttuu ti; isaan duroomi-isaaf nama ijjeesan.

²⁸ Raagoti isi'ii akka nama halluu adii dhaaba manaatitti dibuu cubbuu tana mara dhossan. Isaan mudhii dharaa dhaggaa, moruu dharaalle moran. Gootaan Mootiin Waan Maraa adoo isaanitti hin dubbatin, isaan: Gootaan Mootiin Waan Maraa akkana jedha jedhan.

²⁹ Namooti lafa sanii maltumma'aan saaman. Isaan worra hiyyeeyyii, rakkata'aa fi alagaa miican.

³⁰ Akka ani lafa san hin balleessineef, ka dalleya ijaaru, karaa dalleenni cabeeruun fuula kiyya dura nama isi'iif dhaabbatu, isaan keessa barbaad-deeyyu; garuu nama tokkole hin dhaggine.

³¹ Tanaaf ani mufii tiyya isaan irratti hin dhangalaasaa, ibidda mufii tiyyaatiin isaan hin fixa; waan isaan godhane matuma isaaniititti hin deebisa» jedha Gootaan Mootiin Waan Maraa» jedhe.

23

Ahola'aa Fi Aholiibaa

¹ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

² «Ee ilma namaa! Obboleeyyan durraa lamaan ta haadha takkaa irraa dhalatane jiraniyyu.

³ Isaan biyya Gibxi'ii keessatti sagaagaluu jalqabane; isaan dargaggummaa ifitiin sagaagalane; achitti harmi isaanii qaqqabamee, guntuti isaanii sukkuumame.

⁴ Maqaan angafitti'ii Ahola'a; ka obboleettii isi'ii Aholiiba'a; isaan lamaanuu kiyya te'anee, ijoollee dhiiraatii fi durra naa deyanee. Akkuma maqaa isaaniititti Aholaan Samaariya'a; Aholiibaan Yerusaalem.

⁵ «Aholaan adoo tiyya teetee jirtuu sagaagalte; worra isii jaalatanu worra Asoorii loltoota ollaa ifii halchite.

⁶ Isaan worra woyaa dhiillee uffatu, ka biyya bulchanuu fi ajajjoota woraanaa ti; isaan martinuu dargaggoota shashaggoolee abbootii fardo'oo worra fardo'oon gulufu.

⁷ Isiin dhiirota Asoorii worra filameeru san woliin sagaagaliisaaf ifi kennitee, waqota dharaa ka worra isii woliin sagaagalanuu saniin ifi batteessite.

⁸ Isiin sagaagalummaa biyya Gibxi'iititti jalqadde san hin lakkinne; dhiirti dargaggummaa isi'ii keessa isii woliin rafane sun bantii isi'ii balleessanee, fedhii sagaagalummaa ifii isii irratti dhangalaasaneeran.

⁹ «Tanaaf, ani harka worra isii jaalatu ka worra Asoorii ka isiin halchituu-titti dabarsee isii kenne.

¹⁰ Isaan woyaa irraa mulqanee qullaa isii hamburane; isaan ijoollee isi'ii ta dhiiraatii fi ta durraa booji'anee shallaaga'aan isii ijjeesane; muraan waan itti muranteef, isiin dubartoota keessaa nama ittiin mammaakanu teete.

¹¹ «Obboleettiin isi'ii Aholiibaan tana dhaggiteertiyyu; garuu halcha'aa fi sagaagalumma'aan isii caalaa battoottee bira dabarte.

¹² Isiin worra Asoorii bulchitootaa fi ajajjoota woraanaa, loltoota woyaa dadansaa uffatanee fi dargaggoota shashaggoolee abbootii fardo'oo worra fardo'oon gulufu mara halchite.

¹³ Ani akka isiin battootte dhagge; isaan lamaanuu karuma tokko deemanee.

¹⁴ «Isiin sagaagalummaa ifii ittuma dabalte. Isiin fakkii dhiira worra Kaldootaa ta halluu diintu'uun dhaaba manaa irratti kaafamaneeranu dhaggite.

¹⁵ Fakkiin sun hidha ifiititti hiituu, mataa ifii irratti marata gad rarra'u qabaniyyu; isaan martinuu ajajjoota worra Baabilonii ka garreettaa fardaan harkifamuun duulanu, worra lafa Kaldootaatitti dhalate fakkaataniyyu.

¹⁶ Isiin yennaa isaan dhaggite halchaa sagaagaliisaatiin qabantee, biyya Kaldootaatitti isaanitti nama ergatte.

¹⁷ Worri Baabilonii taqee isi'ii irratti isii woliin rafanee, sagaagalummaa ifitiin isii batteessane; isaan isii batteessaneen duuba isaan diqattee irraa garagalte.

¹⁸ Yennaa isiin sagaagalummaa ifii ittuma ideente, qullaa nafa ifille badhinnatti mudhifatte, anille akkuma obboleettii isi'ii diqadhee irraa deebi'e, isiille diqadhee irraa deebi'e.

¹⁹ Isiin yennaa dargaggummaa ifii biyya Gibxi'iititti sagaagalaa ka turte san qaabattee, ammalle sagaagalummaa ifii irra caalaa ittuma edeetee,

²⁰ gaarayyoota ifii worra nafi isaanii ka hilaa ka akka harre'ee, sanyiin nafa isaanii ka hilaa keessaa bawu ka fardaa fakkaatu halchite.

²¹ Ati battummaa yennaa dargaggummaa teetii ta yennaa worri Gibxi'ii guntuta keeti qaqqabee san halchite.

²² «Tanaaf, ee Aholiiba'a! Goottaan Mootiin Waan Maraa, «Kunoo, ani gaarayyoota teeti worra ati diqattee irraa deebite san si irratti kakkaasee, karaa maraan sitti hin fida.

²³ Worra Baabilonii, Kaldoota mara, worra Pheqodii, worra Qo'a'aa, worra Sho'a'aa isaan woliin worra Asoorii mara, dargaggoota shashaggoolee, worra biyya bulchanuu fi ajajjoota woraanaa mara, ajajjoota worra garreettaa fardaan harkifamuu, qondaaltota, abbootii fardo'oo worra fardaan gulufanu mara sitti hin fida.

²⁴ Isaan garreettaa fardaan harkifamu ka lolaa hedduu, garreettaa fardaan harkifamu ka meyaa heddu'uu fi gosa biyya adda addaa bacaa woliin sitti hin dhufan. Isaan wontee, wontee uffatanu, gullee sibiilaalle naqatanee si hin marsan; anille muraa isaaniitiif dabarsee si hin kenna; isaanille akka seera ifiititti sitti hin muran.

²⁵ Isaan mufi'iin akka si adabanuuf, ani hinaaffaa tiyyaan sitti hin erga. Isaan gurra keetii fi funnaan keeti si irraa hin muran; ijoollee teeti ta dhiiraatii fi ta durraa booji'anee fudhatan; worra si keessatti jiru'uun hafe shallaaga'aan ijjeesan; kuun ibiddaan hin dhumatan.

²⁶ Isaan woyaa teeti si irraa mulqanee dooqa keeti dadansaa hin fudhatan.

²⁷ Ani battummaa teetii fi sagaagalummaa teeti ta ati biyya Gibxi'iititti jalqadde san akka ati lakkittu hin godha; ati haganaa achi gara isaanii deebitee hin ilaaltu; biyya Gibxi'iille deebitee hin qaabattu jedha.

²⁸ «Goottaan Mootiin Waan Maraa, «Kunoo, ani harka worra ati jibbitee diqattee irraa deebiteetitti dabarsee si kennee,

²⁹ isaan si jibbanee waan ati itti elootte mara si irraa hin fudhatan; akka gaafa dhalatteetitti qullaa si hin hamburan; salphinni sagaagalummaa teetiitii fi battummaan teeti hin mudhatti.

³⁰ Waan ati gosa biyya adda addaa woliin sagaagaltee waaqota dharaa ka isaaniitiin ifi batteessiteef tana sitti fide.

³¹ Ati karaa obboleettii teetii ideenteerta; tanaaf ani muduunuu isi'ii ta adabbi'ii si'ille'eef hin kenna jedha.

³² «Goottaan Mootiin Waan Maraa:
«Ati Muduunuu obboleettii teetii badhoo
ta gad boollattu ta bacaa qabattutti hin unta;

nama kollaatii fi nama coora'aa hin teeta.
³³ Muduunuun obboleettii teeti Samaariya'aa
 ta baddi'itii fi ta diigamaa ti;
 ati machi'ii fi gaddaan hin guutanta;
³⁴ ati isii keessaa untee hin cingifatta;
 muduunuu san hin caccassita;
 harma keetille hin babbassita.

Ani Gootaan Mootiin Waan Maraa tana dubbadheera» jedha.

³⁵ «Tanaaf, Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Ati na deetee dudda keeti duubatti waan na gatteef, gatii battummaa teetiitii fi sagaagalummaa teetii hin fudhatta» jedha» jedhe.

³⁶ Ammalle Mootiin Waan Maraa anaan, «Ee ilma namaa! Ahola'aa fi Aholiiba'atti muriisaaf qophoottaa ree? Maarre hujii isaanii diqachiittuu san isaanitti himi.

³⁷ Isaan gaarayyeffataneeran; dhiigille harka isaanii keessa jira; isaan waaqota dharaa ka ifii waaqonfatiisaan gaarayyeffatane; isaan ijoollee ifii ta anaaf deyaneeyyuu waaqota dharaa ka ifitiif sagalee akka te'anu ibiddaan ciincaa isaaniif dhikeessane.

³⁸ Kana irralle'etti ede'anee, guyyuma san isaan Galma kiyya batteessanee, Sanbata kiyyalle akka diqatamu godhaneeran.

³⁹ Isaan yennaa ijoollee ifii waaqota dharaa ka ifitiif ciincaa dhikeessane san, guyyuma san Galma kiyya seenanee batteessane; kunoo, wonni isaan mana kiyya keessatti hujane kana.

⁴⁰ Kana maleelle isaan biyya fago'ootii dhiirti akka isaaniif dhuttuuyyuu ergantoota itti ergataneeraniyyu; kunoo, dhiirti sunille dhutte. Dubartooti obboleeyyan sun isaaniif jedhane nafa dhiqatane, kuulii ila dibatane, dooqa naqatane.

⁴¹ Isaan beeraa* dansaa irra tetee'anee, beeraa san dura xarapheessaa dhaabane hixaana kiyyaa fi zayitii ejersaa tiyya irra keyane.

⁴² Hogaan gumii worra caaquu adaala isaanii jiraayyu; worri machowaan goomole'ee dhufelle isaan waliin jiraniyyu; worri machowaan sun harka dubartootaatti irmuura, mataa isaaniille'etti kallacha keyane.

⁴³ Achiin duuba ani marroo dubartii gaarayyeffatiisaan haalatte† sanii, «Amma isaan isii waliin sagaagalanee, isiille isaan waliin sagaagalte» jedhe.

⁴⁴ Akkuma dhiirti sagaagaltittii waliin rafanu, isaanille isii waliin rafane; akkasuma isaan dubartoota yabaabultoota‡ Ahola'aa fi Aholiibaa waliin rafane.

⁴⁵ Isaan gaarayyeffattoota waan te'aneef, dhiigille harka isaanii irra waan jiruuf, namooti balchooleen muraa ittiin dubartoota sagaagaltoota fi worra dhiigi harka isaanii irra jirutti muranu isaanille'etti hin muran» jedhe.

⁴⁶ Tanaaf, Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Gumii bindillaa kakkaasii isaanitti fidi! Akka isaan bararaqanuu fi saamamanu godhi.

⁴⁷ Gumiin bindillaan sun dhaka'aan isaan hin tuman; shallaagaalle'een isaan hin ijjeesan; ijoollee isaanii ta dhiiraatii fi ta durraalle hin ijjeesan; mana isaaniille ibiddaan hin guban.

⁴⁸ Ani akka kanaan dubartooti marti sagaagalummaa isin hujjane akka hin tolchine ifi eeggachiisiisaan, sagaagalummaa biyya keessaa hin balleessa.

⁴⁹ Isin gatii sagaagalummaa keessanii hin fudhattan; waaqota dharaa keessan waaqonfatiisaan cubbuu waan hujjaneef, hin adabantan. Yennaa san akka ani Gootaa Mootii Waan Maraa te'e hin beettan» jedhe.

* **23:41 Beeraa:** Yookiin teessuma irkoo qabu ka dalla dheeratu. † **23:43 Haalattee:** Yookiin nafi irraa dhumate. ‡ **23:44 Yabaabultoota:** Yookiin gaarayyeffattoota.

24

Marfamiisa Yerusaalemii

¹ Booji'annee woggaa sagaleesso'oo keessa, ji'a kudhaneesso'oo, guyyaa kudhaneesso'ootitti, jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

² «Ee ilma namaa! Mootiin Baabilonii guyyaa adhaa kana Yerusaalem waan marseeruuf, maqaa guyyaa adhaa kana barreeffadhu.

³ Kolbaa finqiltuu tanatti fakkeennaan dubbadhuutii, Gootaan Mootiin Waan Maraa,

«Disitii dhaabi! Disitii dhaabi!

Bisaanille itti naqi;

⁴ gumaa foonii, gumaa foonii dadansaa mara,

lukaa fi harka keessa buusi;

lafee dadansa'aan guuti.

⁵ Hoolee keessaa dadansaa qofa qali;

Disitii san jala qoraan naqiiiti

akka dansaa danfisi;

foonii fi lafee isii keessaa midhassii bilcheessi» jedha.

⁶ «Tanaaf, Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Disitii ciillotte ta ciillaan irraa hin kaane, qachaa dhiiga dhangalaasuuf aanne'e! Foon isii keessaa adoo hin filin gumaa guma'aan keessaa guuri.

⁷ Qachaan kun lafa biyyeen itti deebi'uu hin dandeenne rassaa duwwaa irratti dhiiga dhangalaaseera. Dhiigi qachaan sun dhangalaase haga ammaa isa keessa jira.

⁸ Ani mufadhee haluu bayiisaaf dhiigi qachaan sun dhangalaase akka hin gollanne rassaa irratti akka dhangala'u godhe» jedha.

⁹ «Tanaaf, Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Qachaa dhiiga dhangalaasuuf aanne'e! Ani qoraan guddisee hin tuula.

¹⁰ Qoraan guddisii tuuliitii, ibidda itti gabbisi; foon akka dansaa effeeli; shorbaa isaalle uddowaa adda addaa itti naqiiiti haga lafeelle gubattutti danfisi.

¹¹ Achiin duuba, disitiin o'itee ciillaan isi'ii gubatee akka irraa bu'u, battummaan isii keessaa akka baxxu, disitiin sageettuu irraa hujante sun akka finiintu, duwwaa kashila irra dhaabi.

¹² Toluma itti elowane malee ciillaan isi'ii ibiddalle'een irraa hin kaane.

¹³ Ee qachaa Yerusaalemii! Cubbuun teeti si batteessiteerti; ani akka ati qulqulloottu si godhulle, ati battummaa teeti irraa hin qulqulloonne. Haga ani aarii tiyya si irratti baafadhutti ati hin qulqulloottu.

¹⁴ Ani Mootiin Waan Maraa dubbadheera; yennaan ani waan kana huju dhufaarti; ani gara duubaa hin deebi'u; hin hilu; yaada kiyya hin jijjiiru; akka ideensa keetiitii fi akka hujii teetiititti sitti hin mura» jedha Gootaan Mootiin Waan Maraa» jedhe.

Du'a Niitii Hizqi'elii

¹⁵ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

¹⁶ «Ee ilma namaa! Kunoo, ani niitii teeti ta ati guddoo jaalattu, dedhuma si duraa fudhataara; ati hin gaddin yookiin hin bowin, imimmaan teetille hin buusin.

¹⁷ Qoongoo teeti gad qabadhuu gungumi malee ka du'eef iyyitee hin bowin; marata mata'aa keeti mata'atti maradhu; kophee teeti miilatti keyadhu; afaan keeti hin qabatin; haqaqoolle hin nyaatin» jedhe.

¹⁸ Maarre ani ganama kolba'atti dubbadhee, galgaluma san niitiin tiyya duute; guyyaa itti aanu ani akkuma ajajame godhe.

¹⁹ Achiin duuba kolbaan anaan, «Wonni ati godhiisatti jirtu kun hiikkaan isi'ii maan akka teete nutti hin hintuu ree?» jedhanee na gaafatane.

²⁰ Anille isaanii, «Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

²¹ «Ati kolbaa Israa'eliitiin, Gootaan Mootiin Waan Maraa: Kunoo, ani Galma kiyya ka koora hunna teessanii, ka isin guddoo jaalattanuu fi halchaa lubbuu teessanii hin batteessa; ijoolleen teessan ta dhiiraatii fi ta durraa ta isin Yerusaa'elille'etti lakkittanee deentane shallaaga'aan hin ijjeefaman.

²² Yennaa san isin waan ani godhe mara hin gootan; afaan keessan hin buqattanuu; haqaqoolle hin nyaattanuu.

²³ Marata mataa keessan irraa hin buufattanuu; kophee miila keessan irraa hin baafattanuu; sababa cubbuu teessaniitiif hin yaayyitan malee, hin gadditanuu yookiin hin wiiccifattanuu; wol wolitti hin aaddan.

²⁴ Akka kanaan Hizqi'el fakkeenna isiniif hin te'a; akkuma inni godhe isinille hin gootan. Wonni kun yennaa teetu ani Gootaa Mootii Waan Maraa akka te'e isin hin beettan jedha» naan jedhe» jedheen.

²⁵ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa, anaan, «Atille ilma namaa! Guyyaa ani Galma kiyya koora hunna isaanii, gammadaa fi ulfinna isaanii, ka isaan guddoo jaalatanuu, halchaa lubbuu isaanii ka te'e, ijoollee isaanii ta dhiiraatii fi ta durraalle isaan duraa fudhadhu,

²⁶ guyyaa san nami miliqee dhufu waan kana mara sitti hin hima.

²⁷ Guyyuma san afaan keeti hin banama; nama miliqee dhufu san woliin hin haasotta; afaan keeti deebi'ee hin qabamu; atille isaaniif beessisa ittiin ifi eegatanuu hin teeta. Isaanille ani Mootii Waan Maraa akka te'e hin beekan» jedhe.

25

Raaga Biyya Amoonii Irratti Dubbatame

¹ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

² «Ee ilma namaa! Fuula keeti gara biyya Amoonii deebifadhuutii, raaga isaan irratti dubbadhu.

³ Worra Amoonotaatiin, «Jecha Gootaa Mootii Waan Maraa dhage'a'a» jedhiin; Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Galmi kiyya yennaa battowe, latti Israa'elii yennaa onte, kolbaan Yihuda'aalle yennaa booji'ante, waan gammaddaneef,

⁴ kunoo, ani akka isin qabatanuu harka kolbaa karaa aduun baatuutitti dabarsee isin hin kenna; isaan odduu teessanitti hin qubatan; dunkaanii ifii odduu teessanitti hin dhaabbatan; midhaan keessan hin nyaatan; aanan keessanille hin unan.

⁵ Qachaa Raaba'aa dheeda gaalotaa, biyya Amooniille boqaata hoole'ee* hin godha. Achiin duuba akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beettan» jedha.

⁶ «Mootiin Waan Maraa, «Isin hammeenna keessan maraan firinxiixanee, badii lafa Israa'eliititti, harka keessan dhowaa, sarbicha waan dhiittanneef,

⁷ kunoo, anille harka kiyya isin irratti hin diriirsa; gosi biyya adda addaa akka isin saamanuuf, harka isaaniititti dabarsee isin hin kenna; ani gosa biyya adda addaa keessaa ijjumaa isin hin balleessa; achiin duuba ani Mootii Waan Maraa akka te'e hin beettan» jedha.

Raaga Biyya Mo'aabii Irratti Dubbatame

⁸ «Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Mo'aabii fi Se'iir, «Kolbaan Yihuda'aa akkuma gosa biyya adda addaa taanii ti» waan jedhaneef,

* **25:5** Addee hooleen itti boqattu: Yookiin cicciisa hoole'ee.

⁹ kunoo, ani qachoota Mo'aabiif akka dalleyaa te'anee ulfinna isi'ii te'aneeranu, Bet-Yeshimooti, Ba'aal-Me'onii fi Kiriiyatayim irraa jalqabee akka banamanu hin godha.

¹⁰ Haganaa achi Mo'aab† gosa biyya adda addaa oddu'utti akka hin qaabatanne, worri Mo'aabii worra Amoonii woliin kolbaa worra gara aduun baatuutiin akka qabatamanu hin godha.

¹¹ Ani worra Mo'aabii irratti muraa hin kenna. Achiin duuba isaan akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beekan» jedha.

Raaga Edoom Irratti Dubbatame

¹² «Mootiin Waan Maraa, «Kolbaan Edoomii kolbaa Yihuda'aa irratti quuq-effattee haluu waan baateef, yakkaameyyii teeteerti;

¹³ tanaaf ani Mootiin Waan Maraa kolbaa Edoomii irratti harka kiyya diriirsee, namoota isaaniitii fi horii isaanii ijumaa hin balleessa; qachaa Temaaniitii haga qachaa Dedaaniititti akka onu hin godha; kolbaalle shallaaga'aan hin dhumatti.

¹⁴ Ani harka kolbaa tiyya Israa'eliitiin, kolbaa Edoomii irratti haluu tiyya hin baafadha; isaan akkuma aari'ii fi mufii tiyyaatitti kolbaa Edoomii irratti hin tolchan; kolbaan Edoomiille akka ani haluu tiyya baafadhe hin beetti» jedha, Mootiin Waan Maraa.

Raaga Biyya Filisxeemotaa Irratti Dubbatame

¹⁵ «Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Worri Filisxeemotaa quuqaa duriitii fi hammeennaan worra Yihuda'aa irratti ka'anee haluu bayanee isaan balleessiisaaf waan yaadaneef,

¹⁶ ani Gootaan Mootiin Waan Maraa: Kunoo, harka kiyya worra Filisxeemotaa irratti hin diriirsa; worra Qareexii fixee, ka qarqara abbaaya'aatitti jiru'uun hafanelle hin balleessa.

¹⁷ Ani xixansa halu'uutiin guddisee haluu isaan hin baya; mufii tiyyalle'een isaan hin adaba; yennaa ani haluu isaan baye, akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beekan» jedha» jedhe.

26

Raaga Qachaa Xiirrosii Irratti Dubbatame

¹ Booji'annee woggaa kudhanii tokkeesso'oo keessa, ji'a keessa guyyaa tokkeesso'ootitti, jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

² «Ee ilma namaa! Qachaan Xiirrosii qachaa Yerusaalemiitiin, «Baga! Karri gosa biyya adda addaa caccaddeerti; balbalti isi'iille naaf bananteerti; inni waan oneef, ani hin qananooma» waan jedheef,

³ Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Ee Xiirros! Kunoo, ani si'i irratti hin ka'a; akka abbaayaan danbalii ifii kaachu, anille gosa biyya adda addaa si irratti hin kaasa.

⁴ Isaan dalleya dhaka'aa keeti balleessanee, xelleephoo eeddotaalle hin caccasan; ani biyyee haree rassaa duwwaa si hin godha.

⁵ Akka addee odduu abbaaya'aa ta worri qurxummii guuratu caccoo ifii goffatiisaaf itti afatuu si hin godha; ani Gootaan Mootiin Waan Maraa tana dubbadheera. Gosi biyya adda addaa si hin saaman;

⁶ kolbaan adaala keeti lafa qarqara abbaaya'aa jirtulle shallaaga'aan hin ijjeefaman; achiin duuba ati akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beetta» jedha.

† 25:10 Mo'aab: Afaan Ibrootaatiin Amooni jedha.

⁷ «Gootaan Mootiin Waan Maraa, Xiirsoosin, «Kunoo, ani mootii moototaa ka te'e mootii Baabilonii Nebukadnezaar fardo'oo fi garreettota fardo'oo harkifamanu, abbootii fardo'ootii fi loltoota bacaa woliin kaaba irraa si'itti hin fida.

⁸ Inni kolbaa adaala keeti lafa qarqara abbaaya'aa jirtu shallaaga'aan hin fixa; haga qaccee dalleya dhaka'aa keetiititti kaabii itti marsee hin ijaara; wontee guddoo si irratti ol hin kaasa.

⁹ Inni waan dalleya dhaka'aa ittiin diiganu gara dalleya dhaka'aa keeti deebifatee hin diiga; inni agaraa ifitiin xelleephoo eeddota teetii hin diiga.

¹⁰ Fardoon isaa bacaa waan teeteef, bukuun isaan kaasane si hin golliti. Inni akka nama qachaa cassee seenuu tokko karra teeti cassee yennaa seenu, hididdeessi abbootii fardo'oo, ka garreettaa geejjibaatii fi ka garreettaa fardaan harkifamuu dalleya dhaka'aa keeti hin raasa.

¹¹ Kottee fardoo ifitiin karaa keeti mara irra hin hirbeessan; kolbaa teeti shallaaga'aan hin fixan; utubooti keeti jajjabootille gad lafatti hin jigan.

¹² Isaan waan ati ittiin duroommatte booji'anee, meya ati daldalattulle hin saaman. Isaan dalleya keeti hin diigan. Manni keeti dadansaan hin didiigama; dhakoota, mukootaa fi biyyee teeti abbaaya'atti hin gatan.

¹³ Ani sirba keeti hin dhaabbachiisa; kiraarri keetii guddichi deebi'ee hin dhage'amu.

¹⁴ Ani rassaa duwwaa si hin godha; atille addee worri qurxummii guuratu caccoo ifii goffatiisaaf itti afatu hin teeta. Ani Mootiin Waan Maraa waan dubbadheef, ati ijumaa deebitee hin ijaarantu» jedha Gootaan Mootiin Waan Maraa.

¹⁵ «Gootaan Mootiin Waan Maraa Xiirsoosin, «Worri madowe yennaa aadu, si keessatti yennaa wol qalanu, gikkeessa jinnana keetiitiin oddoolli hin raafamuu ree?

¹⁶ Qondaaltoti abbaayaa qarqaraa marti barcumaa mootummaa ifii irraa hin bu'an; woyaa ifii ta mootumma'aatii fi woyaa ifii ta seesaa san hin mulqatan. Isaan rommaa lafa irra hin tee'an; waan si irratti te'e kana hedaa yennaa mara hin sheephisan.

¹⁷ Isaan faaruu gaddaa marroo teetiif faarsaa,
«Ee ati qachaa abbaayaa qarqaraa, ka beekkante,
ka abbaayaa irratti bulchaa teete,
atii fi worri si keessa le'anuu,
ka worra achi le'anuu bararassitane,
ati attam ijumaa badde!

¹⁸ Guyyaa jinnanaa keetii qarqarri abbaaya'aa hin raafama;
badii teetiin oddoolli hin rifata» jedha.

¹⁹ «Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Ani yennaa akka qachoota nami keessa hin jirree ona si godhu, yennaa bisaan qilee abbaaya'aa si irra garagalchu,

²⁰ gara worra duri du'eeruu worra gad bu'u woliin, nami si keessa le'u akka hin jirraanne, diigama durii odduu akka leetu, gara boolla lafa jalaa gad si hin buusa; ati achii deebitee lafa worra jiraata'aa keessatti addee hin dhaggattu;

²¹ muummee teeti dhagganee akka sodaatanu hin godha; ati barbaadan-tulle ijumaa deebitee hin dhaggantu» jedha Gootaan Mootiin Waan Maraa.

27

Gadda Marroo Qachaa Xiirsoosii

¹ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

² «Ee ilma namaa! Marroo qachaa Xiirsoosiitiif faaruu gaddaa faarsi;

³ ati qachaa Xiiroosii, ka seensuma abbaaya'aa irra jirtu, ka gosa biyya adda addaa ka qarqara abbaaya'aa hedduu waliin daldalatuun, Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Ee qachaa Xiiroosii! Ati: Ani dansumma'aan dhidhinna hin qabu ifiin jetteerta.

⁴ «Meessaan keeti gadhaa abbaaya'aa keessa;
worri si ijaare dansummaan teeti akka hin dhidhanne godheera.

⁵ Falaxaa muka keetii muka gaara Siinaaarii irraa hujane;
utubaa keeti hindheensa Libaanonii irraa hujane.

⁶ Shaffisaa keeti muka qilxaa Baashaanii irraa hujane.
Falaxaa muka Qophiroos irraa dhufee si'iif afanee,
ilka arbaa itti maxxansanee seesane.

⁷ Marduufi hoboloo teetii quncee talba'aa
ka biyya Gibxi'ii irraa hujame
akka baandira'aa ka ati ittiin beekkante;
gollaana keeti ka bifa cuquliisaatii fi dhiilleen,
oddoola Eliishaahiitii dhufane.

⁸ Worri hoboloo teeti oofu Sidoonii fi Arwaad irraa dhufane;
Ee qachaa Xiiroosii! Worri ogeeyyiin si keessa jiranu
isaan worra hoboloo teeti oofe.

⁹ Maanguddooti Gebaaliitii fi ogeeyyiin isi'ii
hoboloo teeti hujisaaf si keessa jiraniyyu;
hobolooti abbaaya'aatii fi worri hoboloo oofu marti
meya sitti gurguratiisaaf,
si irralle'ee bitatiisaaf si keessa jiraniyyu.

¹⁰ « «Namooti Faaresii, Ludii fi Fuxii loltoota te'anee loltoota teeti keessa tajaajilane. Isaan wonte'ee fi gullee sibiilaa si keessatti fannisanee akka ati ulfinna dhaqqatu si godhane.

¹¹ Namooti Arwaadiitii fi Helekii dalleya dhaka'aa ka si'itti naannowe eegane; namooti Gamaadiille xelleephoo teeti keessa jiraniyyu. Isaan wontee ifi dalleya dhaka'aa keetitti fannisanee, dansummaan teeti akka hin dhidhanne godhane.

¹² « «Tarshiish sababa qabeenna bacaa keeti ka adda addaatiif sitti daldalatte; meetii, sibiila, qorqooroo fi irsaasa fiddee meya keetiin jijjiiratte.

¹³ Yaawaan, Tubaalii fi Meshek sitti daldalatane; isaan garbootaa fi meya sageettu'uu meya keetiin jijjiiratane.

¹⁴ Worri Bet-Togaarmaalle fardoo fe'iisaa, fardoo woraanaatii fi gaangolee meya keetiin jijjiiratane.

¹⁵ Worri Rodii* sitti daldalatane; worri abbaayaa qarqaraa hedduun si irraa bitatane, si'ille'etti gurguratane; isaan ilka arbaatii fi muka gurraacha gatii guddoo si'iif fidanee meya keetiin jijjiiratane.

¹⁶ Worri Sooriya'aa sababa meya keeti baca'aatiif sitti daldalatane; isaan dooqa bifa cuquliisaa, woyaa dhiillee, woyaa liilanaan kuulantee dhowante, woyaa quncee talba'aa dadansaa, elellaanii fi dooqa diimaa meya keetiin jijjiiratane.

¹⁷ Worri Yihuda'aatii fi worri lafa Israa'elii sitti daldalatane; isaan qamadii biyya Miiniitii, sagalee mi'oottuu, damma, zayiti'ii fi uddowaa meya keetiin jijjiiratane.

¹⁸ Worri Damaasqo'oo sababa qabeenna bacaa keeti ka adda addaatiif sitti daldalatte; isaan daadhii woyni'ii ta Helbon irraa dhuttuu fi rifeensa hoole'ee ka Zaahaar irraa dhufu meya keetiin jijjiiratane.

* 27:15 Rod: Afaan Ibrootaatiin Dedaan jedha.

19 Worri Daaniitii fi worri Yaawaanii ka Uzaal irraa dhufane sitti daldalatane; isaan sibiila tumame, qarafa'aa fi qurunfudi'iin meya keetiin jijjiiratane.

20 Worri Dedaanii gilaasii koora'aa sitti daldalatane.

21 Worri Arabaatii fi qondaaltoti Qedaarii marti buruusoo korbeeyyii hoole'ee, korbeeyyii hoole'eetii fi re'oota sitti daldalatane.

22 Daldalooti Sheeba'aatii fi Ra'ima'aa sitti daldalatane; isaan uddowaa uddowaa mara caalu, dhakaa gatii guddo'ootii fi worqii meya keetiin jijjiiratane.

23 Worri qachoota Haraanii, Kanneetii fi Edenii, daldalooti Shaba'aa, Asooriitii fi Kilmaadii sitti daldalatane.

24 Daldalooti kun dikkoo teetitti woyaa dadansaa, woyaa bifa cuquliisaatii fi woyaa liilanaan kukuulantee dhowante, itillee dadansaa ta bifa adda addaatiin seefantee fi wodaroo akka dansaa dhowante gurguratane.

25 Hobolooti Tarshiishii meya ati gurgurte ba'atane. Maarre ati gadhaa abbaaya'aa keessatti akka hobolo'oo fe'iisa ulfaata'aan guutanteerta.

26 « Worri si oofu gara ila abbaaya'aa si geessane.

Qilleensi karaa aduun baatuu
wodhakkaa abbaaya'aatitti si butuche.

27 Qabeenni keeti, mey keeti, daldalli keeti,
worri yennaa hoboloon hammaattu miidhassanu,
worri hoboloo oofanu,
worri hoboloo keessa tajaajilanu,
daldalooti teeti
loltooti teeti ta si keessaa marti
namoota si keessa jiranu mara woliin
guyyaa caccaba keetii
qilee abbaaya'aatitti gad liqinfamanee,

28 iyya worra si oofuutiin
worri qarqara abbaaya'aa hin raafaman.

29 Worri shaffisa'aan bisaan laaqu
hoboloo ifii irraa bayanee hin deeman.

Worri hoboloo oofanuu fi worri hoboloo keessaa marti
hoboloo keessaa bayanee
abbaayaa qarqara hin dhaabbatan.

30 Isaan marti bukuu mata'atti naqatanee,
daadhaa irra gangalataa qoonqoo ol qabatanee,
wiiccifatanee si'iif hin bowan.

31 Isaan si'iif mataa haadatanee,
woyaa gaddaa hidha ifitii hidhatanee,
gadda gudda'aan wiiccifatanee
si'iif hin bowan.

32 Isaan gaddaan wiiccifatanee si'iif bowaa,
«Akka Xiirroosii ka abbaayaan liqinsitee bade hin jiraa?» jedhaa,
faaruu gaddaa si'iif faarsan.

33 Mey keeti abbaayaa keessaa yennaa baye,
ati gosa biyya adda addaa hedduu akka quufanu gooteerta;
qabeenna keeti baca'aa fi meya keetiin
mootota biyya lafaa dureeyyii gooteerta.

34 Ati amma qilee bisaan abbaaya'aa keessatti caccaddeerta.
Mey daldala keetiitii fi hojjattooti teeti marti
si woliin liqinfamaneeran.

35 Worri qarqara abbaaya'aa le'u martinuu

waan si irratti te'een hin sheephisan;
moototi isaanille bararaqanee
fuulli isaanii bifa miliqeera.

- ³⁶ Daldaltooti gosa biyya adda addaa
rifatanee afaan banan;
muummeen teeti guddoo nama sodaachitti;
haga bara baraa deebitee hin jiraattu» jedha» jedhe.

28

Raaga Mootii Xiirsoosii Irratti Dubbatame

- ¹ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,
² «Ee ilma namaa! Ati qondaala Xiirsoosiitiin, Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Gadhaan keeti kooree: Ani waaqa; gadhaa abbaaya'aa keessatti barcumaa waaqaa irra tee'a jetteerta; ati gadhaa keeti keessatti akka waaqaa qaroo ifi seetulle ati nama malee waaqaa moti.
³ Ati dhugumaan Daani'el caalaa qaroo'oo ree? Wonni si jalaa miliqee hafeeru dhossaan takkaalle hin jirtuu ree?
⁴ Ati qarummaa'aa fi hubantii teetiin karra horatteerta; mana meyyaa keeti keessatti worqi'ii fi meetii wolitti qabatteerta.
⁵ Ati qarummaa teeti guddoon daldala keetiin karra teeti irratti karra ide'atteerta; gadhaan keeti karra teetiin kooreera.
⁶ «Tanaaf, Gootaan Mootiin Waan Maraa: Ati akka waaqaa qaroo waan ifi seeteef,
⁷ kunoo, ani orma, gosa biyya adda addaa keessaa irra caalaa gadhi-jabeeyyii si'itti hin fida; isaan waan dansaa ati qarummaa teetiin horatte irratti shallaagaa ifii buqqifatanee ulfinna keeti hin batteessan.
⁸ Isaan boolla keessa gad si hin buusan; ati abbaayaa wodhakka'atti du'a badduu hin duuta.
⁹ Ati worra si qalu duratti ammalle: Ani waaqa hin jettaa ree? Ati harka worra si qaluu keessatti nama malee waaqaa ree?
¹⁰ Ati harka ormaa keessatti du'a worra Waaqa malee le'uu hin duuta» jedha Gootaan Mootiin Waan Maraa» jedhe.

Jinnana Mootii Xiirsoosii

- ¹¹ Ammalle Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,
¹² «Ee ilma namaa! Marroo mootii Xiirsoosiitiif, faaruu gaddaa faarsiitii, Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Ati ka qarummaa'aan guutante, ka dansummaan teetille dhidhinna hin qanne, fakkeenna waan dhidhinna hin qannee teeteertaayyu.
¹³ Ati oorruu Waaqaa Eden keessa jirtaayyu; dhakooti gatii gugurdo'oo Saardiyon, tophaaziyon, Yaasphis, kirisoliixos, sardonikis, beerilos, safi-iros, kaarbunilii fi simaaragidos uffana ati uffatteertu; wonni sitti naqamee fi sitti maxxanfame martinuu worqii irraa hujamaneeran; isaan guyyaa ati dadante qopheeffamane.
¹⁴ Ani akka dada ol-gubba'aa ta koola qaddu sanii eedduu godhee si muude. Ati gaara kiyya woyyicha irra leete; ati dhakoota ibiddaa odduu deddeebite.
¹⁵ Ati guyyaa dadanteen jalqaddee haga hammeenni si irratti dhaggametti ati dhidhinna hin qadduuyyu.
¹⁶ Daldalli keeti bacatee hunnaan nama irratti ka'iisaan guutantee, cubbuu hujje. Tanaaf ani gaara kiyya woyyicha irraa akka waan batti'iititti gad

darbee si balleesse; ee ati ka akka dada ol-gubba'aa ta koola qadduu eedduu ka teete, ani odduu dhakoota ibiddaatii si balleesse.

¹⁷ Ati dansicha waan teeteef, gadhaan keeti si koore; ati ulfinna keetiif jettee qarummaa teeti balleessite. Tanaaf ani lafatti gad si darbee, moototi akka si ilaalanu godhe.

¹⁸ Yakkaa teeti bindilla'aan, daldala keeti ka balchummaa dhabeen, ati addee waqonfanna'aa teeti batteessite; tanaaf ani ibidda si keessaa kaasee akka si fixu godhe. Worra si ilaalu mara duratti lafa irratti daadhaa si godhe.

¹⁹ Gosa biyya adda addaa keessaa worri si beeku marti hin sheephisan; muummeen teeti sodaachittuu hin teeti; ati haga bara baraa deebitee hin jiraattu» jedha» jedhe.

Raaga Qachaa Sidoonii Irratti Dubbatame

²⁰ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

²¹ «Ee ilma namaa! Ati fuula keeti gara qachaa Sidoonii deebifadhuutii raaga itti raagii,

²² kolbaa qachaa saniitiin, Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Kunoo, ani isin irratti ka'eera; ee qachaa Sidoonii ani si keessatti hin ulfaadha. Yennaa ani sitti muree woyyummaa tiyya si keessatti mudhise, akka ani Mootii Waan Maraa te'e isin hin beettan.

²³ Ani balaa isinitti hin erga; karaa keessan irratti dhiigi akka dhangala'u hin godha; karaa maraan shallaagaa isin irratti ka'uun wodhakkaa teessanitti namooti hin qalaman; achiin duuba isin akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beettan.

Waaqi Israa'el Hin Eebbisa

²⁴ «Haganaa achi ollaan tuffatee akka qumi'uudu'uu yookiin akka qore'ee ka kolbaa Israa'elii miidhu hin jiraatu. Isaan akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beekan» jedha.

²⁵ «Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Yennaa ani kolbaa Israa'elii gosa biyya adda addaa ta isaan keessa bittinnowane keessaa isaan wolitti qabee, gosa biyya adda addaa duratti yennaa ani woyyummaa tiyya isaanitti mudhisu, isaan lafa ifii ta ani garbicha kiyya Yaaqoobiif kenne keessa hin le'an

²⁶ Isaan achi keessa nageyaan hin le'an; mana hin ijaaratan; woynille hin dhaabbatan. Yennaa ani gosa biyya adda addaa ta ollaa isaanii worra isaan tuffatu mara adabu, Israa'elooti nageyaan hin le'an. Achiin duuba isaan akka ani Mootii Waan Maraa Waaqa isaanii te'e hin beekan» jedha» jedhe.

29

Raaga Biyya Gibxi'ii Irratti Dubbatame

¹ Booji'annee woggaa kudhaneesso'oo, ji'a kudhaneesso'oo, guyyaa kudhanii lammeesso'ootitti, jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

² «Ee ilma namaa! Ati fuula keeti gara mootii Gibxi'ii deebifadhuutii, isaa fi kolbaa Gibxi'ii mara irratti raaga raagi.

³ Mootii Gibxi'iitiin, Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Kunoo, ani si irratti ka'eera! Ee Fara'oon mootii Gibxi'ii, ati jawwee guddittii laga ifii keessa ciittu; ati: Lagi Nayilii kiyya; ani laga kana ifiif dadadhe jetta.

⁴ Ani hookkoo sibiilaa a'oo teeti keessa hin keya; qurxummii laga keetii solloqqee teetitti hin maxxansa; qurxummii solloqqee teetitti maxxante san woliin laga keeti keessaa harkisee si hin baasa.

⁵ Ani si'ii fi qurxummii laga keetii mara lafa goomole'eetitti hin gata; reeffi keeti adoo hin awwaalamini diiduma irratti jigee hafa; ani allaatotaa fi bineensotaafille sagalee si hin godha.

⁶ Achiin duuba isin worri biyya Gibxi'ii keessa leetanu marti akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beettan. Sababille ati kolbaa Israa'eliitiif akka ulee shonbooqqo'oo teeteerta.

⁷ Yennaa isaan harka ifitiin si qabane, ati babbaqaxxee gurmuu isaanii mara woraante; yennaa isaan sitti irkatane, ati caccaddee hidhi isaanii akka lallequ goote.

⁸ Tanaaf, Gootaan Mootiin Waan Maraa: Kunoo, ani shallaagaa si'itti hin fida; namaa fi horii si keessaa ijjumaa hin balleessa.

⁹ Waan ati: Lagi Nayilii kiyya; natti isa dade jetteef, biyyi Gibxi'ii ontee duwwaa hin teeti. Achiin duuba akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beekan.

¹⁰ Tanaaf, kunoo ani si'ii fi laga keeti irratti ka'eera; qachaa Miigdoliitiin jalqabee haga qachaa Aswaaniititti, haga meessaa Itoophiya'aatitti* biyya Gibxi'ii ijjumaa onsee duwwaa hin godha.

¹¹ Miilli namaatii fi kotteen hori'ii isii keessa hin dabaranu; haga woggaa afurtamaa wonni tokko achi hin jiraattu.

¹² Ani biyya Gibxi'ii biyyoota onane keessaa akka tokkootitti hin onsa; qachooti Gibxi'ii haga woggaa afurtamaa qachoota diigamane odduu ona te'anee hin tee'an. Ani worra Gibxi'ii gosa biyya adda addaa keessa bittinneessee, biyya hedduu keessa hin faffacaasa.

¹³ «Woggaan afurtam dhumatteen duuba ani worra Gibxi'ii gosa biyya adda addaa ta isaan itti bittinnowane keessaa isaan wolitti hin qaba;

¹⁴ ani lafa isaan itti booji'aman keessaa deebisee, lafa isaanii ta durii kibba Gibxi'iititti† isaan hin galcha; isaan achitti mootummaa dadhadduu hin te'an.

¹⁵ Mootummaan sun mootummoota dhibii caalaa dadhadduu waan teeteef, gosa biyya adda addaa irratti ijjumaa deebitee ifi ol hin qaddu. Ani akka isaan ijjumaa deebi'anee gosa biyya adda addaa hin bulchine guddoo isaan hin diqqeessa.

¹⁶ Kolbaan Israa'elii qarqaarsa gaafatiisaaf, gara biyya Gibxi'ii deemi isaan yakkaa hujane isaan qaabachiitti malee, hagara achi isaan ijjumaa deebi'anee biyya Gibxi'ii qarqaarsa hin gaafatanu. Achiin duuba isaan akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beekan» jedha» jedhe.

Nebukadnezaar Gibxi Hin Injifata

¹⁷ Booji'annee woggaa Diddamii torbeesso'ootitti, ji'a tokkeesso'oo guyyaa tokkeesso'ootitti, jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

¹⁸ «Ee ilma namaa! Mootiin Baabilonii Nebukadnezaar loltoota ifii duula jabaa Xiirros irratti duulchisee, mataan isaanii luluqqa'ee, gurmuun isaanii ququnca'e; te'uu malee mootichaa fi loltooti isalle eloo saniif Xiirros irraa bu'aa tokkolle hin dhaggane.

¹⁹ Tanaaf, Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Kunoo, ani lafa Gibxi'ii mootii Baabilonii Nebukadnezaariif dabarsee hin kenna; innille karra isi'ii saamee fudhatee hin deema; wonni inni saamee fudhate sun loltoota isaatiif mindaa hin teeti.

²⁰ Isa fi loltooti isaa waan naaf hujaneef, gatii eloo isaatiif ani lafa Gibxi'ii isaaf kenneera.

²¹ «Guyyaa san ani kolbaa Israa'eliitiif jabeenna hin kenna; atille isaan keessatti afaan keeti akka saaqattu hin godha. Achiin duuba isaan akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beekan» jedha Gootaan Mootiin Waan Maraa» jedhe.

* **29:10** Itoophiyaa: Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali. † **29:14** Kibba Gibxi'ii: Afaan Ibrootaatiin Faaxros jedha.

30

Biyyi Gibxi'ii Hin Adabanti

- ¹ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,
² «Ee ilma namaa! Raaga raagiitii, Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Wiicci-fadhuu bowiitii: Guyyaa saniif aanne'e jedhi.
³ ««Guyyaan sun dhikaateera;
 guyyaan Mootii Waan Maraa dhikaateera.
 Guyyaan sun guyyaa duumensaa ti;
 gosa biyya adda addaatiif yennaa mura'aa ti.
⁴ Biyya Gibxi'iititti shallaagaan hin dhufa;
 biyya Itoophiya'aalle'etti* muddam hin dhufa.
 Worri qalame biyya Gibxi'ii keessatti yennaa jiganu,
 karri isi'ii hin fudhatanti;
 hundeen isi'iille hin diiganti.
⁵ « «Itoophiyaan†, Fuxi, Ludi, worri Arabaa marti, gumiin kolbaa gara-garaalle, biyyi Kubiitii fi kolbaan biyya sanii worri ani dur isaan waliin gondooroo godhadhe biyya Gibxi'ii waliin shallaaga'aan hin dhumatan» jedha.
⁶ «Mootiin Waan Maraa, «Worri Gibxi qarqaaru marti hin dhumatan; hunni isiin ittiin koortulle hin salphatti; Miigdolii haga Aswaaniititti isii keessatti shallaaga'aan hin dhumatan.
⁷ Biyyi Gibxi'ii biyyoota onane wodhakka'atti ona hin teeti; qachooti isi'iille qachoota diigamane wodhakka'atti hin diigaman.
⁸ Yennaa ani biyya Gibxi'iititti ibidda qassiisu, worri isii qarqaaru marti yennaa caccabu, isaan akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beekan.
⁹ « «Guyyaa san ergantooti na biraa hobolo'oon, kolbaa Itoophiya'aa‡ ta bidhaa hin qanne akka bararaqanu godhiisaaf hin bayan; guyyaa Gibxi'itti muratu san muddam isaanitti hin dhufa. Kunoo, muddam sun hin dhufa» jedha.
¹⁰ «Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Ani harka Nebukadnezaarii mootii Baabiloniititti kolbaa Gibxi'ii bindillaa hin fixa.
¹¹ Innii fi loltooti isaa gadhi-jabeeyyiin lafa balleessiisaaf hin dhufan; shallaagaa ifii worra Gibxi'iititti buqqifatane lafa san worra qalameen hin guutan.
¹² Ani laga Nayilii hin gossa; lafalle worra hamaaleyyi'itti hin gurgura; lafaa fi waan isii keessaa mara harka worra ormaatiin hin onsa. Ani Mootiin Waan Maraa tana dubbadheera» jedha.
¹³ «Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Ani waaqota dharaa hin balleessa; fakkii waaqotaalle qachaa Memfiisii keessaa ijjumaa hin balleessa; biyya Gibxi'ii keessa hagaraa achi qondaalli hin jiraatu; lafa Gibxi'iititti sodaa hin buusa.
¹⁴ Ani kibba Gibxi'ii§ hin onsa; Zo'aanitti ibidda hin naqa; qachaa No'iille'etti hin mura.
¹⁵ Ani kushee jadduu biyya Gibxi'ii qachaa Siinii irratti mufii tiyya hin dhangalaasa; kolbaa bindillaa No'iille hin balleessa.
¹⁶ Ani biyya Gibxi'iititti ibidda hin naqa; qachaan Siinii akka dubartii deettuu hin ciniinsifata; dalleenni dhaka'aa ka No'ii hin caba; qachaan Memfiisiille yennaa mara diinaan hin rakkata.

* **30:4** *Itoophiyaa*: Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali. † **30:5** *Itoophiyaa*: Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali. ‡ **30:9** *Itoophiyaa*: Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali. § **30:14** *Gibxi*: Afaan Ibrootaatiin *Faaxros* jedha

¹⁷ Dargaggooti qachaa Aweeniitii fi Phii-Besetii keessa jiranu mart-inuu shallaaga'aan hin dhumatan. Dubartooti qachaa san keessaa hin booji'aman.

¹⁸ Yennaa ani waanjoo biyya Gibxi'ii caccassu, qachaa Taahafene keessatti guyyaan hin dukkana; hunni isiin ittiin koortulle hin baddi; dumensalle'een hin gollama; worri aadaa isaa le'u hin booji'aman.

¹⁹ Akka kanaan ani biyya Gibxi'ii hin adaba; isaanille akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beekan» jedha» jedhe.

Biyyi Gibxi'ii Hin Dadhaddi

²⁰ Booji'annee woggaa kudhanii tokkeesso'oo, ji'a tokkeesso'oo, guyyaa torbeesso'ootitti, jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

²¹ «Ee ilma namaa! Ani irree Fara'oonii mootii Gibxi'ii casseera; kunoo, hiituu itti mariisaan fayyitee, jabaattee shallaagaa qabatuu akka dandeettu, irreen sun hidhantee hin jirtu.

²² Tanaaf, Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Kunoo, ani Fara'oonii mootii Gibxi'ii irratti hin ka'a; irree isaa lamaanuu ta caddee fi fayyaalettiille hin caccassa; shallaagaan harka isaatii akka bu'u hin godha.

²³ Ani worra Gibxi'ii gosa biyya adda addaa odduu hin bittinneessa. Biyya hedduu keessa hin faffacaasa.

²⁴ Irree mootii Baabilonii hin jabeessa; shallaagaa kiyya harka isaa keessa hin keya; irree mootii Gibxi'ii ammoo hin caccassa; inni akka nama akka malee madowee isa duratti hin aada.

²⁵ Ani irree mootii Baabilonii hin jabeessa; irreen motii Gibxi'ii ammoo irraa hin buuti; yennaa ani shallaagaa kiyya harka mootii Baabilonii keessa keyee, yennaa inni worra Gibxi'iititti mirmirsu, yoos isaan akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beekan.

²⁶ Ani worra Gibxi'ii gosa biyya adda addaa odduu hin bittinneessa. Yoos isaan akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beekan» jedha» jedhe.

31

Fakkeenaa Hindheensa Libaanonii

¹ Booji'annee woggaa kudhanii tokkeesso'oo, ji'a sadeesso'oo guyyaa tokkeesso'ootitti jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

² «Ee ilma namaa! Fara'oonii mootii Gibxi'iitii fi kolbaa isaa bindilla'aan, «Guddinnaan ati eennu fakkaatta?

³ ««Kunoo, Asoor dur akka hindheensa Libaanon keessaa
ka dameelee dadansa'aa
ka gaaddisa gongoma'aa,
ka ol dheeratee,
qaccean isaa duumensa odduu jirtuu ti.

⁴ Bisaan isa ol dheeresse;
maddi qile'ee isa guddisee,
adaala inni latetti lagi akka yaa'u godhee,
bisaan gara mukoota gongomaa keessaa akka yaa'anu godhe.

⁵ Bisaan guddaa waan dhaggateef,
mukoota baddaa keessa jiranu mara caalaa dheerate;
dameeleen isaa lattee dheerate.

⁶ Sinbirrooti marti dameelee isaa keessatti mana ifii ijaarratane;
bineensoti marti dameelee isaa jalatti ilmoolee dhalane.

Gosi biyya adda addaa gugurdoon marti
gaaddisa isaa jala leete.

⁷ Hiddi isaa gara bisaan gudda'aa gad waan seeneef,

- banqaqiisaa fi dheerinna dameelee ifitiin hin miidhagaayyu.
- ⁸ Hindheensi oorruu Waaqaa keessa jiruuyyuu isa woliin wol hin qixxawu; muki gosa adda addaa ka dameelee dheertuu akkasii qabu hin jiru. Mukooti oorruu Waaqaa keessaa ka miidhaginna isaatiin wol qixxawu tokkolle hin jiru.
- ⁹ Ani dameelee banqaaxxuu isaatiin akka inni miidhagu godheera; mukooti oorruu Waaqaa keessa jiranu marti isa hinaafane.
- ¹⁰ « ‹Tanaaf, Gootaan Mootiin Waan Maraa: Inni ol dheeratee, qacceen isaalle duumensa dhaqqaddee, dheerinna ifitiin waan kooreef,
- ¹¹ ani harka bulchitoota gosa biyya adda addaatitti dabarsee isa hin kenna. Inni akka hammeenna ifititti gatii hujii ifii hin dhaggata; ani baasee isa hin gata.
- ¹² Gosi ormaa ta biyya adda addaa gadhi-jabeeyyiin isa muranee, jissanee lakkisane; dameeleen isaa gaaraa fi dhooqa mara keessatti caccaddee hin harcaati; dameeleen isaa bowwaa lafa sanii keessatti hin caccaddi; gosi biyya adda addaa ta gaaddisa isaa jala jirtu marti isa lakkisane hin deeman.
- ¹³ Sinbirrooti marti jirma isaa ka jige san irratti qubatanee, bineensoti marti dameelee isaa oddu'utti galane.
- ¹⁴ Tanaaf, muki laga qarqaraa marti, baala rubbanaan gubba'atti dameelee ifii ol yaafatee, hagonaa achi kooree mataa ifii ol hin baafatu. Haganaa achi muki bisaan akka maltetti dhaggate marti akka kana hojjaa hin qabaatu. Tokko tokkoon isaanii worra du'aaf kennamane, ka gara qile'ee gad bu'anu woliin akka gad bu'u itti murteeffameera.
- ¹⁵ Gootaan Mootiin Waan Maraa: Guyyaa hindheensi sun gara addee worri du'e jiruu gad bu'u, gaddi akka te'u godhe; ani bisaan qile'ee duuche; laga isaalle cufe; bisaan hedduulle dhaabbachiise. Sababa isaatiif gaarri Libaanonii dukkana akka uffatu godhe. Mukooti badda'aa marti qoorane.
- ¹⁶ Yennaa ani worra gara boolla addee worri du'e jiru, gad bu'u woliin gara addee worri du'e jiruu gad isa buuse, huurruu jinnana isaa dhageettee gosi biyya adda addaa akka hollattu godhe. Mukooti Edenii marti, mukooti Libaanonii ka filatamane martii fi mukooti bisaan akka dansaa dhaggatane ka qilee lafaan jalaa keessa jiranu mara jinnana isaatiin gammadane.
- ¹⁷ Gosa biyya adda addaa keessaa worri gaaddisa isaa jala le'ee, ka golii te'elle, isa woliin worra shallaaga'aan qalamanee addee worri du'e jirutti gad bu'ane.
- ¹⁸ « ‹Mukoota Edenii keessaa ulfinnaa fi guddinnaan si woliin ka wol fakkaatu kam ree? Te'uu malee atille mukoota Edenii woliin gara lafa jalaatitti gad hin buuta; ati worra shallaaga'aan qalame woliin worra Waaqa malee le'u odduu hin irkatta.
- «Kun fakkeenaa Fara'ooniitii fi kolbaa bindillaa isaa ti, jedha Gootaan Mootiin Waan Maraa» jedhi» jedhe.

32

Faaruu Gaddaa Ta Marroo Fara'oonii

- ¹ Booji'annee woggaa kudhanii lammeesso'ootitti, ji'a kudhanii lammeesso'oo guyyaa tokkeesso'ootitti, jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,
- ² «Ee ilma namaa! Fara'oonii mootii Gibxi'iitiif faaruu gaddaa faarsiitii, isaan, ‹Ati gosa biyya adda addaa keessatti akka neenqaa ti; te'uu malee akka bineensa naacha fakkaatu ka abbaayaa keessaa ti; ati laga keeti keessa bisaan facaasaa, miila keetiin kokorsaa laga isaanii booreessita.

³ Mootiin Waan Maraa: Ani gosa biyya adda addaa heddu'uun caccoo tiyya si irratti hin diriirsa; isaan caccoo tiyyaan ol si hin harkisan.

⁴ Ani lafa irratti si hin gata; diida irra si hin buusa; allaattiin adda addaa akka si irra tee'anu hin godha; bineensoti lafa irraa marti si nyaatanee akka quufanu hin godha.

⁵ Ani foon keeti gaarota hedduu irratti hin xeera; dhooqa hedduulle foon keetiin hin guuta.

⁶ Ani dhiiga keeti ka dhangala'uun haga gaaraatitti lafa hin obaasa; lagi marti dhiiga keetiin hin guutaman.

⁷ Ani yennaa haxowee si balleessu, ol-gubbaa hin golla; urjoota ol-gubba'aalle hin dukkaneessa; aduu duumensaan hin golla; jiinille ifa ifii hin kennu.

⁸ Ifa ol-gubba'aa mara si irratti hin dukkaneessa; lafa teeti irratti dukkana hin fidda» jedha Goottaan Mootiin Waan Maraa.

⁹ «Biyya ati hin beenne keessatti, gosa biyya adda addaa oddu'utti ani badii yennaa sitti fidu, gadhaa kolbaa heddu'uu hin raasa.

¹⁰ Ani isaan duratti shallaagaa kiyya yennaa mirmisse, kolbaan hedduun marroo waan keetiitiif akka rifatanu hin godha; mootoleen isaaniille sodaatanee hin hollatan. Guyyaa jinnana keetii tokko tokkoon isaanii yennaa mara lubbuu ifitiif hin sodaatan.

¹¹ «Gootaan Mootiin Waan Maraa mootii Gibxi'iitiin, «Shallaagaan mootii Baabilonii si irratti hin dhufa.

¹² Ani kolbaa teeti bindillaa shallaagaa worra hunnaameyyi'ii, gosa biyya adda addaa gadhi-jabeeyyi'iitiin akka ijjeefamanu hin godha. Isaan koora Gibxi'ii hin balleessan; kolbaan isi'ii bindillaan sun marti hin baddi.

¹³ Ani horii isi'ii mara bisaan hedduu biraa hin balleessa; haganaa achi miilli namaa yookiin kotteen hori'ii bisaan san hin booreessu.

¹⁴ Achiin duuba ani bisaan worra Gibxi'ii qararee akka qullowu hin godha; lagi isaanii akka zayiti'ii laana akka lola'u hin godha.

¹⁵ Yennaa ani biyya Gibxi'ii onsee, waan isii keessa guute mara balleesse, worra achi keessa le'u mara yennaa dhowe, isaan akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beekan.

¹⁶ Faaruun gaddaa ta isaan faarsanu tana; dubartooti gosa biyya adda addaa faaru gaddaa isi'iif hin faarfatan; isaan Gibxi'ii fi kolbaa isi'ii bindilla'aaf faaru gaddaa hin faarfatan» jedha» jedhe.

¹⁷ Booji'annee woggaa kudhanii lammeesso'ootitti, ji'a tokkeesso'oo, guyyaa kudhanii shaneesso'ootitti, jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

¹⁸ «Ee ilma namaa! Kolbaa bindillaa Gibxi'iitiif bowi; isaanii fi dubartoota gosa biyya adda addaa hunnaameyyi'ii worra gara boollaa gad deemu woliin gara qilee lafa jalaa gad ergi.

¹⁹ Isaaniin, «Isin dansumma'aan worra kaan caalaa hin jaalatantanii ree? Gad bu'a'aatii worra Waaqa malee le'u odduu irkadha'a» jedhiin.

²⁰ «Isaan worra shallaaga'aan ijjeefamane wodhakka'atti hin jigan; Gibxiin shallaaga'aaf dabarfantee kennanteerti; isi'ii fi kolbaa isi'ii bindillaalle harkisa'aa gata'a.

²¹ Soorressitooti hunnaameyyiin, addee worri du'e jiru keessaa marroo Gibxi'iitii fi marroo kolbaa isi'ii bindilla'aa, «Isaan as gad dhufanee worra Waaqa malee le'u, ka shallaaga'aan ijjeefamane woliin irkataneeran» jedhanee hin dubbatan.

²² «Asoorille awwaala loltoota ifii maraan marfantee achi jirti; isaan mart-inuu shallaaga'aan ijjeefamanee,

²³ boolla qilee keessa jiran; loltooti isi'iille adaala awwaala isi'ii ciisan; lafa worra lubbu'uun jiruu keessatti worri akka nami bararaqu godhe marti shallaaga'aan ijjeefamane.

²⁴ «Elaamille awwaala kolbaa isi'ii bindilla'aa maraan marfantee achi jirti; marti isaaniituu shallaaga'aan ijjeefamane; lafa worra lubbu'uun jiruu keessatti worri akka nami bararaqu godhe marti du'a worra waaqa malee le'uu du'anee, boolla qile'eetitti gad bu'aneeran; worra boolla qile'eetitti gad bu'e woliin salphataneeran.

²⁵ Isaan kolbaa isi'ii bindillaa adaala awwaala isi'ii jiranu mara woliin, worra qalame odduu taqee isi'ii keyane; marti isaaniituu akka worra Waaqa malee le'uu, shallaaga'aan ijjeefamane. Lafa worra lubbu'uun jiruu keessatti akka nami bararaqu waan godhaneef, worra boolla qile'eetitti gad bu'u woliin salphataneeran; isaan worra qalame odduu ciisaneeran.

²⁶ «Meshekii fi Tubaalille awwaala kolbaa isaanii bindilla'aatiin marfamane achi jiran; lafa worra lubbu'uun jiruu keessatti akka nami bararaqu waan godhaneef, marti isaaniituu akka worra Waaqa malee le'uu, shallaaga'aan ijjeefamane.

²⁷ Isaan worra hunnaameyyii bara heddu'uun dura du'ee, meya ifii ka woraanaa mara woliin addee worri du'e jirutti gad bu'e woliin hin irkanne. Worri hunnaameyyiin kun yennaa lubbu'uun jiranu worra kolbaa bararasse, ka shallaagaa ifii boraafatane, wontee ifii qoma irratti qabatanee awwaalame.

²⁸ «Ee mootii Gibxi'ii! Atille caccaddee, worra Waaqa malee le'u ka shallaaga'aan ijjeefame odduu hin irkatta.

²⁹ «Edoom, moototi isi'iitii fi qondaaltoti isi'ii marti achi jiran; isaan adoo worra hunnaameyyii te'anee jiranuu, worra shallaaga'aan ijjeefame woliin irkataneeran; worra Waaqa malee le'uu ka gara boolla qile'ee gad bu'e woliin irkataneeran.

³⁰ «Qondaaltoti gara kaabaatii fi worri Sidoonii marti achi jiran; isaan worra qalamee woliin salphatane gara boollaa gad bu'ane; hunni isaanii ta akka nami bararaqu gootu adoo teetuu, worra dhumatane, ka salphatane, ka Waaqa malee le'anuu, ka shallaaga'aan ijjeefamane boolla qile'etti gad bu'ane woliin irkataneeran.

³¹ «Mootiin Gibxi'ii yennaa isaan dhagge, gadda loltoota ifii bindillaa shallaaga'aan dhumatane mara irraa hin jajjabaata.

³² «Ani lafa worra lubbu'uun jiruu keessatti akka nami bararaqu akka inni tolchu godhulle, mootii Gibxi'iitii fi loltooti isaa bindillaan marti worra Waaqa malee le'u ka shallaaga'aan ijjeefamane woliin hin irkatan jedha Gootaan Mootiin Waan Maraa» jedhe.

33

Hizqi'el Edduu te'e

¹ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

² «Ee ilma namaa! Kolbaa teetitti dubbadhuutii, isaaniin, «Ani lafa takka irratti woraana yoo fide, kolbaan lafa sanii ifi keessaa nama tokko fuutee eedduu yoo godhatte,

³ inni woraanni dhufuun dhaggee, tultullaa afuufee kolbaa yoo ifi eegachiise,

⁴ nami tokko qoonqoo tultulla'aa san dhage'ee yoo ifi eeggatuu dhabee, woraanni sun dhufee yoo isa ijeese, dhiiga ifitiif isumatti itti gaafatama.

⁵ Inni qoonqoo tultulla'aa san dhage'ee waan ifi eeggatiisa dhabeef dhiiga ifitiif isumatti itti gaafatama; inni adoo ifi eeggatee jiraatee, silaa lubbuu ifi hin hamburataayyu.

⁶ Eedduun sun ammoo woraana dhufiisatti jiru dhaggee, tultullaa afuufee kolbaa yoo ifi eeggachiisuu dhabe, woraanni dhufee isaan keessaa nama tokko yoo ijjeese, nami sun yakkaa ifitiif hin ijjeefama, ani ammoo dhiiga isaa harka eedduu sanii keessaa hin barbaada» jedhi.

⁷ «Ee ilma namaa! Ani kolbaa Israa'eliitiif eedduu si godheera; ati yennaa jecha afaan kiyyaa dhageettu mara isaan ifi eeggachiisi.

⁸ Ani nama hama'aan, «Ee nama hama'a! Ati dhugumaan hin duuta» yoo jedhe, ati ammoo akka inni hujii hantuu ifii irraa deebi'u yoo ifi hin eeggachiisin, nami hamaan sun cubbuu ifitiin hin du'a; ani ammoo dhiiga isaa harka keeti keessaa barbaada.

⁹ Ati ammoo nami hamaan sun hujii hantuu ifii irraa akka deebi'u yoo ifi eeggachiitte, inni hujii hantuu ifii irraa yoo hin deebi'in, inni cubbuu ifitiin hin du'a; ati ammoo lubbuu teeti hin baafatta.

Nami Cubbuu Ifi Irraa Deebi'e Hin Le'a

¹⁰ «Ee ilma namaa! Ati kolbaa Israa'eliitiin, «Isin: Yakka'aa fi cubbuun teenna nutti ulfaataneeran; sababa kanaan huqqatiisatti jirra. Maarre attamiin jiraanna ree? jettan» jedhiin.

¹¹ Ati isaaniin, «Ani Gootaan Mootiin Waan Maraa jiraata'a! Nami hamaan hujii hantuu ifii irraa deebi'ee akka jiraatu malee, du'a nama hama'aatitti hin gammaddu. Ee kolbaa Israa'elii, isin maaf duutan ree? Karaa hamaa keessan irraa deebi'a'a! Deebi'a'a!» jedhiin.

¹² «Ammalle ilma namaa! Ati kolbaa keetiin, «Nami balchaan deebi'ee cubbuu yoo huje, balchummaan isaa ta durii sun isa hin fayyittu; nami hamaan hammeenna ifii ka durii san irraa yoo deebi'e, hammeenna ifii ka durii saniin hin badu; nami balchaan cubbuu yoo huje, balchummaa ifii ta duriitiin jiraachuu hin dande'u» jedhi.

¹³ Ani nama balcha'aan, «Ati dhugumaan lubbu'uun hin jiraatta» jedheenii, inni ammoo balchummaa ifiititti addatee, cubbuu yoo huje, sababa cubbuu ifitiif hin du'a malee, hujii balchummaa isaa ta durii takkaalle isaaf hin yaadatantu.

¹⁴ Ammalle, ani nama hama'aan, «Dhugumaan ati hin duuta» jedheenii, inni ammoo cubbuu ifii irraa deebi'ee, haqaa fi waan sirrii te'e yoo huje,

¹⁵ liqaa kenneef waan qaddii qabate yookiin waan saamee fudhate yoo deebise, seera jiru'uu gula yoo ideeme, cubbuu hujiiisa yoo lakkise, inni dhugumaan hin jiraata malee hin du'u.

¹⁶ Cubbuun inni huje takkaalle isatti hin laakkowantu. Inni haqaa fi waan sirrii te'e waan hujeeff, dhugumaan hin jiraata.

¹⁷ «Kolbaan teeti, «Karaan Mootii Waan Maraa sirri'ii moti» jetti; ka sirrii hin te'in garuu karaa isaanii ti.

¹⁸ Nami balchaan balchummaa ifii irraa deebi'ee waan haqa hin te'in yoo huje, waan hantuu hujeeff hin du'a.

¹⁹ Nami hamaan cubbuu huje irraa deebi'ee haqaa fi waan sirrii te'e yoo huje, inni tana waan godheeff lubbu'uun hin jiraata.

²⁰ Isin ammoo, «Karaan Mootii Waan Maraa sirri'ii moti» jettan. Ee kolbaa Israa'elii, ani tokko tokkoo keessanitti akka ideensa keessaniititti hin mura» jedhe.

Oduu Jinnana Yerusaalemii

²¹ Booji'annee woggaa kudhanii lammeesso'oo, ji'a kudhaneesso'oo guyyaa shaneesso'ootitti, Yerusaleem keessaa nami baqatee baye tokko gara kiyya dhufee, «Qachaan qabameera!» jedhe.

²² Nami baqatee dhufe sun na bira adoo hin geyin, galgala irreen Mootii Waan Maraa gara kiyya dhuttee, nami sun na bira adoo hin geyin, ganama Mootiin Waan Maraa afaan kiyya bane; maarre afaan kiyya banamee anille yennaa sanii jalqabee hin cadhinne.

²³ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

²⁴ «Ee ilma namaa! Lafa Israa'elii keessa, qachaa diigame san keessa kolbaan leetu, «Abrahaam nama tokko qofaayyu; te'uu malee lafa fudhate; nuuti ammoo baca'a; akka fudhannuuf latti dhugumaan nu'uuf kennan-teerti» jetti.

²⁵ «Tanaaf ati isaaniin: «Mootiin Waan Maraa: Isin foon dhiiga woliin nyaattan; waqota dharaa waqonfattan; dhiigalle hin dhangalaattan; tana mara tolchaa lafa fudhattanii ree?»

²⁶ Isin shallaagaa keessan addatan; waan battii hujjan; tokko tokkoon keessan niitii namaa batteessitan; tana mara tolchaa lafa fudhattanii ree? jedha» jedhiin.

²⁷ «Ati isaaniin, «Gootaan Mootiin Waan Maraa: Dhugumaan ani Waaqa jiraata'a! Worri qachoota diigamane keessatti hafe marti shallaaga'aan hin ijjeefaman; worra qacha'aan ala le'u ammoo akka isaan nyaatamanu ani bineensaaf dabarsee isaan hin kenna; worri kushee jaddu'uu fi goda keessa jiranu dhukkuba hama'aan dhumatan.

²⁸ Ani lafa onsee duwwaa hin godha; hunni isiin ittiin koortulle hin dhummatti; gaaroti Israa'elii ona hin te'an; nami tokkolle keessa hin qaxxaamuru.

²⁹ Isaan waan battii waan hujaneef, ani lafa onsee duwwaa yennaa godhu, akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beekan» jedhi.

³⁰ «Ee ilma namaa! Kolbaan teeti dalleya qacha'aatii fi balbala mana ifii biratti waan keeti yennaa mari'atanu, «Kowa'a, jecha Mootii Waan Maraa biraa dhufe dhageenna ti» woliin jedhan.

³¹ Isaan akkuma yennaa mara godhanu kolbaan tiyya waan ati dubbattu dhage'iisaaf si dura hin tee'an; te'uu malee waan ati itti dubbattu hin muummessanu; afaan ifitiin waan jaalalaa dubbatan; gadhaan isaanii ammoo bu'aa haqa hin te'in gula deema.

³² Kunoo, ati isaaniif akka nama qoonqoo dansa'aan sirba jaalalaa meya sirbaatiin akka dansaa sirbuu ti; isaan waan ati dubbattu hin dhage'an malee, hin muummessanu.

³³ Wonni ati dubbatte, ta dhugumaan muummowu'uuf jirtu tun yennaa teetu, raagaan odduu isaanii akka jiru hin beekan» jedhe.

34

Raaga Tissitoota Israa'elii Irratti Dubbatame

¹ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

² «Ee ilma namaa! Tissitoota Israa'elii irratti raaga dubbadhuutii, «Gootaan Mootiin Waan Maraa: Tissitoota Israa'elii worra ifi qofa tiffatuuf aanne'e! Tissitooti silaa hoolota tissitii motii?»

³ Isin cooma nyaattan; woyaa rifeensa hoole'ee irraa hujante uffattan; hoolota gabbatte qalattan; hoolota ammoo hin tissitanu.

⁴ Isin worra dadhabeeru hin jajjabeessine; worra dhibameeru hin fayyine; worra cabeeru hin hiine; worra karaa irraa goreeru hin deebinne; worra badeeru hin barbaanne; isin hunnaa fi gadhi-jabeennaan hoolota tissitane.

⁵ Hooloti tisee waan hin qanneef bittinnowanee, bineensota badda'aa maraaf sagalee te'ane.

⁶ Hooloti tiyya gaarota maraa fi koobota dhedheertuu mara irra joonjane; isaan lafa mara irra bittinnowane; nami isaan barbaade yookiin ka isaan ilaale tokkolle hin jiru.

⁷ « Tanaaf, isin tissitooti, jecha Mootii Waan Maraa dhage'a'a!

⁸ Gootaan Mootiin Waan Maraa: Dhugumaan ani jiraata'a! Hooloti tiyya tisee waan hin qanneef, tissitooti tiyya ifi qofa waan tiffatanuuf, hooloti tiyya ka isaan barbaadu dhabanee bineensaaf sagalee te'ane.

⁹ Tanaaf, isin tissitoota, jecha Mootii Waan Maraa dhage'a'a!

¹⁰ Gootaan Mootiin Waan Maraa: Kunoo, ani tissitoota irratti hin ka'a; hoolota tiyya harka isaanii keessaa hin barbaada; hagaraa achi akka isaan hoolota tiyya hin tissine hin godha; tissitootille hagaraa achi ifi qofa hin tissanu; ani hoolota tiyya afaan isaanii keessaa hin baasa; hagaraa achi isaan sagalee isaanii hin te'anu.

Waaqi Tisee Dansa'a

¹¹ « Ammalle Gootaan Mootiin Waan Maraa: Kunoo, aninuu hoolota tiyya hin barbaadadha; hin tiffadhalle'e.

¹² Akkuma tissitooti yennaa hoolota ifi tiffatanu hoolota bittinnootte barbaadanu, anille hoolota tiyya hin barbaadadha; guyyaa duumensaatii fi guyyaa dukkanaa addee isaan itti bittinnowaneeranuu isaan hin baasa.

¹³ Ani gosa biyya adda addaa keessaa isaan baasee, biyya hedduu keessaa isaan wolitti qabee lafa isaaniiitti isaan hin deebisa. Gaarota Israa'elii irra, lagoota bisaanii bira, lafa nami keessa le'u mara irra isaan hin tiffadha.

¹⁴ Ani addee marri dansaan jirutti isaan hin bobbaasa; gaaroti Israa'elii dhedheeraan addee dheeda isaanii hin te'an. Isaan achi lafa marri dansaan jiru irra hin ciisan; achi gaarota Israa'elii irra addee marri dansaan jiru hin dheedan.

¹⁵ Aninuu tisee hoolota tiyyaa hin te'a; aninuu akka isaan foorfatanu hin godha jedha Gootaan Mootiin Waan Maraa.

¹⁶ Ani ta baddeertu hin barbaada; ta karaa irraa gorteertu hin deebifadha; ta caddeertu hin hidhadha; ta dadhaddeertu hin jajjabeeffadha; ta coonteertuu fi ta jabaatteertu hin balleessa; ani haqaan isaan hin tissa.

¹⁷ « Gootaan Mootiin Waan Maraa: Kunoo, ani marroo isin hoolota tiyyaa, hoolotaa fi hoolota wodhakka'atti, korbeeyyii hoole'eetii fi korbeeyyii re'e'ee wodhakka'atti muraa hin kenna.

¹⁸ Marra dansaa dheediis isin hin gewuu? Ka hafe miila keessaniin irra sirbuu qaddanii ree? Bisaan qulluu uniis isin hin gewuu? Ka hafe miila keessaniin booressuu qaddanii ree?

¹⁹ Hooloti tiyya waan isin miila keessaniin irra sirbitane dheedanee, bisaan isin miila keessaniin booressitane unanii ree?

²⁰ « Tanaaf, Gootaan Mootiin Waan Maraa, isaaniin: Kunoo, aninuu hoolota tiyya ta coonteertuu fi ta huqqatteertu wodhakka'atti muraa hin kenna.

²¹ Isin hoolota dadhaddeertu haga isaan bittinneessitanutti cinaachaa fi gurmoo teessaniin waan isaan darbitanuuf, gaafa keessanille'een waan isaan woraantanuuf,

²² ani hoolota tiyya hin baasa; hagaraa achi isaan hin nyaatamanu; ani hoolotaa fi hoolota wodhakka'atti muraa hin kenna.

²³ Ani tisee tokko garbicha kiyya Daawiti isaaniif hin kenna; innille isaan hin tissa; inni isaan bobbaasee tisee isaaniif hin te'a.

²⁴ Ani Mootiin Waan Maraa Waaqa isaanii hin te'a; garbichi kiyya Daawit-ille isaan oddu'utti qondaala hin te'a; ani Mootiin Waan Maraa tana dubbad-heera.

²⁵ Ani Gondooroo nageyaa isaan woliin hin godhadha; akka isaan nageyaan goomolee keessa le'anee, gongomaa keessa ciisanu, bineensota badda'aa lafa isaanii keessaa hin balleessa.

²⁶ «²⁶ «Ani isaan, addee adaala gaara kiyyaalle hin eebbisa; yennaa eegatee bokkeenni akka roobu hin godha; bokkeenni sun bokkeya eebbaa hin te'a.

²⁷ Mukooti badda'aa midhaan ifii hin buusan; lattille midhaan hin kenniti; kolbaalle lafa ifii keessa nageyaan hin leeti. Ani waanjoo isaanii caccassee, harka worra isaan garboonfatee keessaa yennaa isaan baase, isaan akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beekan.

²⁸ Isaan hagonaa achi gosa biyya adda addaatiin hin nyaatamanu; bineensaafille sagalee hin te'anu; wonni isaan sodaachisu tokkolle adoo hin jiraatin nageyaan hin le'an.

²⁹ Haganaa achi akka isaan beelaan hin dhumanne, cooraa gosa biyya adda addaatiin akka isaan hin rakkanne, ani lafa midhaaniin beekkante isaaniif hin kenna.

³⁰ Achiin duuba ani Mootiin Waan Maraa Waaqi isaanii isaan woliin akka jiruu fi kolbaan Israa'elii kolbaa tiyya akka teete isaan hin beekan jedha Gootaan Mootiin Waan Maraa.

³¹ «³¹ «Isin hoolota tiyya, kolbaa Israa'elii ta ani tiffadhu; anille Waaqa keessan» jedha Gootaan Mootiin Waan Maraa» jedhe.

35

Raaga Gaara Biyya Se'iirii Irratti Dubbatame

¹ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

² «Ee ilma namaa! Fuula keeti gara biyya Se'iirii deebifadhuu raaga itti dubbadhuutii,

³ Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Kunoo, gaara biyya Se'iirii, ani harka kiyya si irratti diriirsee, onsee duwwaa si hin tolcha.

⁴ Ani qachoota keeti diigee ona si hin tolcha; achiin duuba ati akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beetta.

⁵ «⁵ «Ati Israa'elootatti diina teetee, quuqaa bara dheera'aa qabatee, yennaa rakinni dhumaatii fi yennaa adabbiin isaan dhaqqadde, shallaaga'aaf dabarsitee isaan kenniteerta.

⁶ Tanaaf, ani Mootiin Waan Maraa, dhugumaan Waaqa jiraata'a! Dhiigi keeti akka dhangalaafamu dabarsee si hin kenna; ka dhiiga dhangalaasu si hin ari'a. Dhiiga dhangalaasiisa waan hin jibbiniif, ka dhiiga dhangalaasu si hin ari'a.

⁷ Ani gaara biyya Se'iirii onsee duwwaa hin godha; nama biyya gaaraa san keessa qaxxaamuree deemu hin balleessa.

⁸ Ani gaarota keeti worra ijjeefameen hin guuta. Worri shallaaga'aan ijjeefamane kooba teeti irratti, dhooqa teeti keessaa fi dareera keeti keessatti hin gombifaman.

⁹ Ani haga bara baraa ona si hin tolcha; qachaa keeti keessa nami hin le'u; achiin duuba ati akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beetta.

¹⁰ «¹⁰ «Adoo ani Mootiin Waan Maraa achi jiruu, ati: Gosi biyya adda addaa lamaan tun, Yihuda'aa fi Israa'el tiyya; ani isaan hin fudhadha jetteerta.

¹¹ Maarre ani Gootaan Mootiin Waan Maraa dhugumaan jiraata'a! Akkuma ati isaan jibbitee isaanitti aartee hinaatte, anille akkasuma si hin godha. Ani yennaa sitti muru odduu isaaniititti beekkamaa hin te'a.

¹² Ati: Isaan onaneeran; akka isaan nyaannuuf nu'uuf kennamaneeran jettee, gaarota Israa'elii irratti dubbatte san ani Mootiin Waan Maraa akka dhage'e hin beetta.

¹³ Ati afaan keetiin na irratti ifi guddittee, jechoota bacaa ati na irratti dubbatte, ani dhage'eera.

¹⁴ «¹⁴ «¹⁴ Biyyi lafaa duudiin yennaa gammaddu, ani Gootaan Mootiin Waan Maraa ona si hin tolcha.

¹⁵ Latti Israa'elii yennaa onte, ati waan gammaddeef, ani si'ille akkasuma hin tolcha. Ee gaara Se'iirii! Si'ii fi biyya Edoomii duudii ona hin tolcha. Achiin duuba akka ani Mootii Waan Maraa te'e isaan hin beekan» jedha» jedhe.

36

Raaga Marroo Gaarota Israa'eliitiif Dubbatame

¹ «Ee ilma namaa! Marroo gaarota Israa'elii raaga dubbadhuutii, «Ee gaarota Israa'elii! Jecha Mootii Waan Maraa dhage'a'a!

² Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Diinoti marroo teeti: Gaaroti durii sun бага keenna te'ane jedhan» jedha» jedhi.

³ Tanaaf, raaga dubbadhuutii, «Gootaan Mootiin Waan Maraa: Isin waan ontaneef, karaa maraan waan caccaddaneef, gosa biyya adda addaa worra dhibii heddu'uuf qabeenna waan teetaneef, kolbaan waan keessan dubbattee hamii hantuu isin hamatteerti jedha» jedhi.

⁴ Tanaaf, ee gaarota Israa'elii, jecha Gootaa Mootii Waan Maraa dhage'a'a! Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Gaarotaa fi koobotaan, dareerotaa fi dhooqotaan, qachoota duwwaa te'anee onane, ka gosi biyya adda addaa ta adaala isaanii jirtu saamiisaan itti taphatteen,

⁵ «Ani Gootaan Mootiin Waan Maraa: Hinaaffaa tiyya jaddu'uun gosa biyya adda addaa ta dhibi'ii fi kolbaa Edoomii mara irratti hin dubbadha; isaan gadhaa ifii keessatti gammadaneef, tuffi'in lafa tiyya saamanee fudhatanee, addee dheeda horii ifi godhatane» jedha.

⁶ «⁶ «⁶ Tanaaf ati marroo lafa, gaarotaa fi koobota, lagootaa fi dhooqota Israa'elii irratti raaga dubbadhuutii, «Gootaan Mootiin Waan Maraa: Gosi biyya adda addaa waan isin salphitteen, kunoo ani hinaaffaa mufi'itiin dubbadheera jedha» jedhi.

⁷ Tanaaf Gootaan Mootiin Waan Maraa: Gosi biyya adda addaa ka adaala keessan jiranu akka salphatanu ani hin kakadha.

⁸ «Ee gaarota Israa'elii, kolbaan tiyya Israa'el gara qe'ee ifi ariifattee waan dhuttuuf, isin ammoo dameelee baafattanee midhaan isaaniif hin buuttan.

⁹ Kunoo ani isin woliin waan jiruuf, gara keessanille waan deebi'uuf, isin qotantanee midhaan isin irratti hin facaafama.

¹⁰ Kolbaan Israa'elii martinuu adoo hin hafin ani kolbaa isin irratti hin baceessa; qachooti ka nami keessa le'u hin te'an; addeen diigantelle deebitee hin ijaaranti.

¹¹ Ani namaa fi horii isin irratti hin baceessa; isaan bacatanee hin horan; akkuma durii namooti akka isin keessa le'anuu hin tolcha; ta durii caalaa waan dansaa isinii hin tolcha; yennaa san isin akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beettan.

¹² Ani kolbaan tiyya Israa'el akka isin irra ideentu hin tolcha; isaan isin hin qabatan; isinille lafa isaanii hin teetan; hagamaa achi beelaan worra ijoollee hin qanne isaan hin tolchitanu» jedha.

¹³ «Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Namooti isiniin: Isin nama nyaattan; kolbaa teessan beelaan ijoollee malee hamburtan waan jedhanuuf,

¹⁴ isin haganaa achi nama hin nyaattanu; kolbaa teessanille beelaan ijoollee malee hin hamburtanu.

¹⁵ Haganaa achi ani akka gosi biyya adda addaa isin salphittu hin godhu; haganaa achi kolbaan isin hin qaanessitu; haganaa achi kolbaa teessaniif gufuu hin teetanu» jedha Gootaan Mootiin Waan Maraa» jedhe.

Jiruu Israa'elii Haareya

¹⁶ Ammalle Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

¹⁷ «Ee ilma namaa! Kolbaan Israa'elii yennaa lafa ifii keessa leetu, karaa ifiitii fi hujii ifiitiin lafa ifii batteessite. Karaan isaanii na duratti akka dubartii xuriin itti dhuttee aadaa dhugeeffanna'aatiin qulqullinna hin qannee ti.

¹⁸ Isaan lafa san keessatti dhiiga waan dhangalaasaneef, waaqota ifii ka dharaatiin lafa san waan batteessaneef, maarre anille mufii tiyya isaan irratti dhangalaase.

¹⁹ Ani gosa biyya adda addaa keessa isaan bittinneessee, isaan biyya hedduu keessa xexeeramane. Ani akka karaa isaaniitii fi akka hujii isaaniititti isaanitti mure.

²⁰ Isaan yennaa gara gosa biyya adda addaa dhaqane, addee dhaqane maratti isaan maqaa kiyya woyyicha waan batteessanee, kolbaan, «Isaan kun kolbaa Mootii Waan Maraa ti; garuu worra lafa isaa keessaa bayane» jette.

²¹ Kolbaan Israa'elii ammoo addee dhaqane maratti gosa biyya adda addaa oddu'utti, maqaan kiyya woyyichi ka isaan batteessane natti dhage'ameera.

²² «Tanaaf, kolbaa Israa'eliitiin, «Gootaan Mootiin Waan Maraa: Ani isiniif jedhee adoo hin te'in, addee dhaxxane maratti gosa biyya adda addaa oddu'utti maqaa kiyya woyyicha waan batteessitaneef tana godha jedha.

²³ Ani woyyummaa maqaa kiyya gudda'aa ka gosa biyya adda addaa oddu'utti battowe, ka isin odduu isaaniititti batteessitane san hin mudhisa. Achiin duuba adoo isaan dhagganuu karaa keessaniin woyyummaa tiyya yennaa mudhisu gosi biyya adda addaa akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beekan.

²⁴ Ani gosa biyya adda addaa keessaa isin hin fuudha; biyya mara keessaa wolitti isin hin qaba; gara lafa teessaniititti isin hin deebisa.

²⁵ Ani bisaan qulqulluu isinitti hin fiffixa; isinille battummaa teessan maraa fi waaqota dharaa keessan mara irraa hin qulqulloontan.

²⁶ Ani qalbii haareya isiniif hin kenna; ayyaana haareya isin keessa hin keya. Ani mataa jabeenna keessan ka akka dhaka'aa isin keessaa baasee, qalbii ajajantu isiniif hin kenna.

²⁷ Ani ayyaana kiyya isin keessa hin keya; akka seerata kiyyaatitti akka isin ideentanuu fi ajaja kiyya miidhassitane akka eegattanuu hin godha.

²⁸ Lafa abbootii teessan ta duriitiif kenne keessa hin leetan; isin kolbaa tiyya hin teetan; anille Waaqa keessan hin te'a.

²⁹ Ani battummaa teessan mara keessaa isin hin baasa; midhaan waamee hin baceessa; haganaa achi beela isinitti hin fidu.

³⁰ Akka isin gosa biyya adda addaa oddu'utti beelaan hin salphanne, midhaan mukaatii fi midhaan ficha'aa mara akka bacatu hin godha.

³¹ Achiin duuba isin karaa keessan hama'aa fi hujii teessan ta dansaa hin te'in mara hin qaabattan; marroo yakka'aa fi hujii diqachiittuu teessaniitiif ifi hin jibbitan.

³² Ani Gootaan Mootiin Waan Maraa kana isiniif jedhee akka hin goone beeka'a. Ee kolbaa Israa'elii! Marroo amala keessaniitiif qaanowa'aatii salphadha'a jedha» jedhi.

³³ «Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Guyyaa ani cubbuu teessan mara irraa isin qulqulleessu, qachaa keessan keessa akka nami deebi'ee qubatu hin godha; ka diigamelle deebi'ee hin ijaarama.

³⁴ Latti duri worra isii keessa dabaru mara duratti ona teete, deebitee hin qotanti.

³⁵ Worri achi keessa dabaru sunille, «Latti duri onteertu, oorruu Edenii fakkaatte; qachooti duri diigamanee onanee duwwaa te'ane amma dalleenni itti ijaaramee, namille keessa le'iisatti jira!» hin jedhan.

³⁶ Achiin duuba gosi biyya adda addaa ta adaala keessanitti hafane akka ani Mootiin Waan Maraa qachoota diigame deebisee ijaaree fi fichaa duri one akka deebisee misoonse hin beekan. Ani Mootii Waan Maraa ti; ani dubbadheera; waan dubbadhe hin godhalle'e» jedha.

³⁷ «Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Ani ammalle waan kolbaan Israa'elii na gaafatte tokko isaaniif hin godha; kolbaa isaanii akka tika hoole'ee hin baceessa.

³⁸ Akkuma yennaa jila beekkantee, Yerusaa'lem hoolee ciinca'aaf dhikaateen guutantu, qachooti diigamanelle namootaan hin guutaman; achiin duuba isaan akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beekan» jedha» jedhe.

37

Dhooqa Lafeelee Goggoddu'uu

¹ Irreen Mootii Waan Maraa ana irra jirtiyyu; inni ayyaanaan na fuudhee, dhooqa lafeelee'een guutanteertu takka keessa na keye.

² Inni adaala lafeelee sanii asii fi achi na ideensise. Kunoo, dhooqa san keessa lafeelee guddoo baca'atti jiraayyu; lafeeleen sun akka malee goggoganeeran.

³ Inni, «Ee ilma namaa! Lafeeleen tun deebitee lubbu'uun jiraatuu hin dandeettii?» anaan jedhe.

Anille deebisee, «Ee Gootaa Mootii Waan Maraa, tana si qofattuu beeka» jedheen.

⁴ Achiin duuba inni, anaan, «Lafeelee tanatti raaga dubbadhuutii, «Ee lafeelee goggodduu tana, jecha Mootii Waan Maraa dhage'a'a.

⁵ Gootaan Mootiin Waan Maraa, lafeelee tanaan: Kunoo, ani hafuura isinitti hin galcha; isin lubbu'uun hin jiraattan.

⁶ Ani ribuu isin irra keyee, foon isinitti lachisiisee, gogaalle isinitti hin uffisa; hafuura isin keessa keyee, lubbu'uun akka jiraatanu isin hin godha; yennaa san akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beettan» jedhiin» jedhe.

⁷ Maarre anille akkuma ajajame raaga dubbadhe. Adoo ani raaga dubbatii isatti jiruu, kakakkeessi tokko dhage'ame; kunoo wonni tokko kakakkisee, lafeeleen sun wolitti hiiqanee, wolitti karoorfamiisa jalqabane.

⁸ Anille isaan ilaale; kunoo, ribuun isaan irra jirtiyyu; foonille isaan irratti latee, gogaalle uffataneeraniyyu. Hafuurri ammoo isaan keessa hin jiru.

⁹ Achiin duuba inni anaan, «Ee ilma namaa! Qilleensatti raaga dubbadhu; raaga dubbadhu; qilleensa, «Gootaan Mootiin Waan Maraa: Ee qilleensa, maddii afur irraa koyiitii, akka isaan lubbu'uun jiraatanuuf, worra ijjeefameeru kanatti hafuura baafadhu jedha» jedhiin» jedhe.

¹⁰ Maarre ani akkuma inni na ajaje raage; hafuurille isaan keessa seenee, isaan jiraattolee te'anee miila ifitiin dhaabbatane, loltoota guddoo bacaa te'ane.

¹¹ Achiin duuba inni anaan, «Ee ilma namaa! Lafeeleen tun kolbaa Israa'elii duudi'i. Kunoo, isaan, «Lafeeleen teenna goggoddeerti; addii kutanneerra; nuuti ijjumaa banneerra» jedhan.

¹² Tanaaf, raaga dubbadhuutii, isaaniin, «Gootaan Mootiin Waan Maraa: Ee kolbaa tiyya, kunoo, ani awwaala keessan banee, awwaala keessan keessaa isin hin baasa. Ani gara lafa Israa'elii deebisee isin hin fida.

¹³ Ee kolbaa tiyya! Yennaa ani awwaala keessan banee, awwaala keessan keessaa isin baase, akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beettan.

¹⁴ Ani ayyaana kiyya isin keessa hin keya; isinille lubbu'uun hin jiraatan; lafa teessanitti isin hin galcha. Achiin duuba akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beettan. Ani dubbadheera; waan dubbadhe hin godhalle'e jedha» jedhi» jedhe.

Yihuda'aa fi Israa'el Mootummaa Tokko Hin Te'an

¹⁵ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

¹⁶ «Ee ilma namaa! Ulee takka fuudhiitii, isii irratti jecha, «Yihuda'aaf, Israa'eloota isa woliin wolii galanulle'eef» jedhu barreessi. Achiin duuba ulee dhibii fuudhiitii, isii irratti jecha, «Yoseefiif jechuun Efreemiif, Israa'eloota isa woliin wolii galanu maralle'eef» jedhu irratti barreessi.

¹⁷ Uleen lamaan sun harka keeti keessatti tokko akka te'anu wolitti qassiisi.

¹⁸ Kolbaan teeti, «Kun maan jechuu keeti akka te'e nutti hin hintuu ree?» jedhane yennaa si gaafatane,

¹⁹ ati isaaniin, «Gootaan Mootiin Waan Maraa: Kunoo ani ulee Yoseefi ta harka Efreemii keessa jirtuu fi ulee gosa Israa'elii ta worra isa woliin wolii galanuu fuudhee, akka isaan harka kiyya keessatti tokko te'anu, ulee Yihuda'aa woliin wolitti isaan qassiisa jedha» jedhi.

²⁰ «Ulee lamaan irratti barreessite san ila isaanii dura qabiitii,

²¹ isaaniin, «Gootaan Mootiin Waan Maraa: Kunoo, ani kolbaa Israa'elii gara maraa gosa biyya adda addaa oddu'uu wolitti isaan qabee, gara lafa isaanii isaan hin fida.

²² Lafa irratti, gaara Israa'elii gubba'atti kolbaa takkattii isaan hin godha. Isaan mara irratti mootiin tokkochi hin mootoma; isaan haganaa achi gosa biyya adda addaa lama hin te'anu; mootummaa lama te'anee ijuma gargar hin goodamanu.

²³ Isaan haganaa achi waaqota dharaa ka ifitiin, waan diqachiittuu ifille'een yookiin yakkaa ifii maralle'een ifi hin batteessanu. Ani ammoo cubbuu isaan na lakkisane duubatti deebi'isaan hujane mara jalaa isaan baasee, isaan hin qulqulleessa. Achiin duuba isaan kolbaa tiyya hin te'an; anille Waaqa isaanii hin te'a.

²⁴ « «Garbichi kiyya Daawiti isaan irratti mootii hin te'a; isaan martinuu tissee tokko hin qabaatan. Isaan seera kiyyaan hin ideeman; seerata kiyyalle miidhassanee hin eegatan.

²⁵ Isaan lafa ani garbicha kiyya Yaaqoobiif kenne, addee abbootiin teessan duri keessa leete keessa hin le'an. Isaanii fi ijoolleen isaanii, ijoolleen ijoollee isaanille haga bara baraa achi hin le'an; garbichi kiyya Daawiti haga bara baraa bulchaa isaanii hin te'a.

²⁶ Ani gondooroo nageyaa isaan woliin hin godhadha. Gondooroon sun gondooroo bara baraa hin teeti. Ani lafa isaanii keessatti isaan jabeessee hin dhaba; isaan hin baceessa; Galma kiyya haga bara baraa odduu isaaniititti hin dhaaba.

²⁷ Addeen leetoo tiyyaa isaan woliin hin teeti; ani Waaqa isaanii hin te'a; isaanille kolbaa tiyya hin te'an

²⁸ Achiin duuba yennaa ani Galma kiyya haga bara baraa odduu isaaniititti dhaabe ka Israa'el woyyoonsu, ana Mootii Waan Maraa akka te'e gosi biyya adda addaa hin beekan jedha» jedhiin» jedhe.

38

Raaga Googi Irratti Dubbatame

¹ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

² «Ee ilma namaa! Fuula keeti gara Googii lafa Maagoogii jiru, qondaala guddicha Meshekiitii fi Tubaalii deebifadhuutii raaga irratti dubbadhuutii,

³ «Gootaan Mootiin Waan Maraa: Ee Googii qondaala Meshekiitii fi Tubaalii, kunoo, ani si irratti ka'eera.

⁴ Ani gara duubaa si hin deebisa; ani a'oo teeti keessa hookkoo galchee, loltoota teeti mara, fardoo teetii fi abbootii fardo'oo teeti mara, worra meya woraanaa ka ifii guutuu hidhate mara, loltoota bacaaworra wontee gugurdo'oo fi wontee didiqqoo qabanu, worra shallaagaa ifii mirmiffatanu mara harkisee si woliin hin baasa.

⁵ Worri Faaresii, worri Itoophiya'aa* isaan woliin jiran; isaan martinuu wonte'ee fi gullee sibiilaa keyataneeran.

⁶ Gomerii fi loltooti isaa mara, Bet-Togaarmaa kaaba fago'oo irraa loltoota isaa mara woliin, kolbaa hedduulle si woliin hin baasa.

⁷ Atii fi worri adaala keetitti wolitti qabame martinuu qophowa'a; ati sooreessa isaanii te'i.

⁸ Bara heddu'uun duuba ati lolaaf hin waamanta. Lafa bara baca'aan duuba lolli irraa cite, ta kolbaan isi'ii gosa biyya adda addaa hedduu keessaa gaarota Israa'elii irratti wolitti qabante, ta yennaa hedduu ontee turte, ta isaan martinuu amma nageyaan keessa le'anuu san irratti hin kaata.

⁹ Atii fi loltooti keeti marti, gosi biyya adda addaa bacaan ta si woliin jirtu akka bubbee bokkeyaa hin baatan; akka duumensaa lafa hin gollitan jedha» jedhi.

¹⁰ «Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Bara sanitti yaadi gara qalbii teetii hin dhufa. Ati mala hamaa hin dhoota;

¹¹ ati: Ani lafa ollaa dalleya hin qannetti hin duula. Kolbaa dalleya, danqara'aa fi karra malee cadhittee nageyaan leetu mara hin lola;

¹² lafa ontee amma nami deebi'ee irra le'u tana irratti harka kiyya diriirsee, worra gosa biyya adda addaa keessaa wolitti qabame, worra horii baca'aa fi meya hedduu qabu, ka handhura biyya lafaa irra le'u hin booji'a; hin saamalle'e jetta.

¹³ Sheeba'aa fi Dedaan, daldaltooti Tarshiishiitii fi ollooti isi'ii marti, si'iin: Ati saamiisaaf dhuttee? Meeti'ii fi worqii, hori'ii fi meya bacaawoorri'isaa loltoota teeti wolitti qabattee dhuttee? Hin jedhan jedha» jedhi.

¹⁴ «Tanaaf, ee ilma namaa! Ati Googi irratti raaga dubbadhuutii, «Gootaan Mootiin Waan Maraa: Bara kolbaan tiyya Israa'el nageyaan leetu ati hin beettaa motii ree?

¹⁵ Ati lafa kaabaa fagoo irraa gosa biyya adda addaa hedduu, kolbaa bacaaworra loltoota jajjadduu woliin isaan martinuu fardoo irraa tee'anee, isaan woliin hin dhutta.

¹⁶ Ati kolbaa tiyya Israa'el loliisaaf, akka duumensa lafa golluu itti hin dhutta. Ee Googi, karaa keetiin fuula isaanii duratti woyyummaa tiyya yennaa ani isaanitti mudhisu, gosi biyya adda addaa akka na beekanu, bara muumme'ee irratti lafa tiyya loliisaaf akka ati dhuttu hin godha jedha» jedhiin.

¹⁷ Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Ati ka ani bara durii karaa garboota tiyya raagota Israa'eliitiin marroo isaa dubbadhe sanii motii? Ani bara san akka isaan irratti si fidu isaan bara dheeraa raaganeeran» jedha.

* 38:5 Itoophiyaa: Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali.

Muraa Waaqi Googi irratti fidu

¹⁸ «Ammalle Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Yennaa Googi lafa Israa'elii lolu, guyyaa san aariin tiyya jadduun hin kaati.

¹⁹ Guyyaa san lafa Israa'elii irratti tacho'iis lafaa guddaan akka te'u, ani hinaaffa'aan, aarii tiyya ta bobeettulle'een lallabeera.

²⁰ Qurxummi'ii fi sinbirrooti, bineensoti badda'aa marti, dadi lafa irra lowanu marti, namooti lafa irraa martinuu fuula kiyya duratti hin hollatan; gaaroti gad hin qolaanfaman; bowwaan marti hin sigigan; dalleenni dhaka'aa marti hin jigan.

²¹ Gaarota kiyya mara irratti Googi loliisaaf shallaagaa hin waama; nami marti wol irratti shallaagaa hin buqqifata.

²² Ani dhukkuba hama'aa fi dhiiga dhangalaasiisaan isatti hin mura; isa irratti, loltoota isaatii fi worra isa woliin jiranu irratti bokkeya baradaa, dhakaa bokkeyaa, ibiddaa fi dhakaa bobe'u hin roobisiisa.

²³ Maarre ani guddinna kiyyaa fi woyyummaa tiyya hin mudhisa; gosa biyya adda addaa duratti ifi hin beessisa; achiin duuba isaan akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beekan» jedha.

39*Injifatamiisa Googii*

¹ «Ee ilma namaa! Googi irratti raaga dubbadhuutii, «Gootaan Mootiin Waan Maraa: Ee, Googii qondaala guddicha kolbaa Meshekiitii fi Tubaalii, kunoo, ani si irratti ka'eera.

² Ani gara duubaa si deebisee, gara duraa si oofee, kaaba fago'oo irraa si fidee, gaarota Israa'elii irratti akka ati duultu si hin godha.

³ Achiin duuba ani harka keeti bitaacha irraa guubee hin dhowa; harka keeti middicha irraa daaya hin buusa.

⁴ Atii fi worri si woliin jiru marti, gosi biyya adda addaa gaarota Israa'elii irratti hin duutan. Ani allaattii gosa adda addaattii fi bineensa maraaf sagalee si hin godha.

⁵ Ani waan dubbadheeruuf, ati diida keessatti hin duuta. Ani Gootaan Mootiin Waan Maraa tana dubbadheera.

⁶ Ani biyya Maagoogiitii fi worra qarqara abbaaya'aa bidhaa malee le'u irratti ibidda hin erga; isaan akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beekan.

⁷ Maqaan kiyya woyyichi kolbaa tiyya Israa'el oddu'utti akka beekamu hin godha; haganaa achi maqaan kiyya woyyichi akka battowu hin godhu. Gosi biyya adda addaa akka ani Mootii Waan Maraa woyyicha Israa'elii te'e hin beekan.

⁸ Kunoo, guyyaan ani: Kunoo, guyyaan wonni kun marti teetu hin dhufa; dhugumaan guyyaan hin dhufa jedhee dubbadhe dhufiisatti jira.

⁹ «Achiin duuba worri qachaa Israa'elii keessa le'u achi keessaa bayanee, meya woraanaa akka qoraanii ibiddatti naqanee hin bobeessan; wontee didiqqo'oo fi wontee gugurdoo, guube'ee fi daaya, ciira'aa fi eboo hin guban; haga woggaa torbaa isaan hin bobeessan.

¹⁰ Isaan meya woraanaa waan bobeeffatanuuf, diida keessaa qoraan caaffatiisi, gongomaa keessaa muka muriis hin barbaachisu; isaan worra isaan booji'e hin booji'an; worra isaan saame hin saaman jedha Gootaan Mootiin Waan Maraa.

Awwaalamiiisa Googii

¹¹ «Bara san dhooqa worra karaa deemu ta abbaayaa irraa karaa aduun baatu jirtu san awwaala Googiitiif hin kenna; Googii fi loltoota isaa martinuu

achitti waan awwaalamanuuf, worra karaa ideemutti karaan hin cufama; dhooqi sun: Dhooqa Hamoon-Googii* hin jedhanti.

¹² Kolbaan Israa'elii lafa qulqulleessiisaaf ji'a torba isaan hin awwaalan.

¹³ Kolbaan lafa sanii marti isaan hin awwaalan; guyyaan ani ulfinna kiyya mudhisu sun isaaniif gurra hin te'a jedha Gootaan Mootiin Waan Maraa.

¹⁴ Isaan namoota lafa qulqulleessiisaaf, yennaa mara lafa keessa deddeemanee worra lafa irratti du'ee hafeeru awwaalu hin filatan. Isaan dhuma ji'a torbaatitti reeffa hafeeru barbaadan.

¹⁵ Isaan yennaa lafa keessa deddeemanu lafee namaa yennaa lafatti dhaggane, haga worri awwaalu dhufee dhooqa Hamoon-Googii keessatti awwaalutti beessisa itti hin godhan.

¹⁶ Isaan akka kanaan lafa hin qulqulleessan; maqaan qachaa addee san jiruulle: Hamoonaa hin jedhama jedha» jedhi.

¹⁷ «Ati ee ilma namaa! Mootiin Waan Maraa, «Allaatota adda addaatiif fi bineensota maratti dubbadhuutii: Addee maraa wolitti qabama'aatii, gara jila ciinca'aa ta ani isinii qopheessee, gara jila guddoo gaarota Israa'elii irraa kowa'aatii foon nyaadha'a; dhiigalle una'a.

¹⁸ Akka foonii fi dhiiga korbeeyyii hoole'eetii fi buruusoo hoole'ee, korbeeyyii re'e'eetii fi korommi'ii ka akka horii cocooma Baashaanii, isin foon worra jajjabaa nyaatanee dhiiga qondaaltota gosa biyya adda addaa hin untan.

¹⁹ Jila ciinca'aa ta ani isiniif qopheessu sanitti haga quuttanutti cooma hin nyaattan; haga machoottanutti dhiiga hin untan.

²⁰ Isin qorii tiyyatti fardoole'ee fi abbootii fardoole'ee, loltoota jajjabaa fi loltoota mara nyaattanee hin quuttan jedhi» jedha Gootaan Mootiin Waan Maraa.

Adde'etti Deebi'iisa Israa'elii

²¹ «Ani ulfinna kiyya gosa biyya adda addaa oddu'utti hin mudhisa; gosi biyya adda addaa marti muraa ani isaanitti muree fi adabbii ani isaan adabe hin dhaggiti.

²² Guyyaa saniin jalqabanee kolbaan Israa'elii akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beekan.

²³ Gosi biyya adda addaa kolbaan Israa'elii sababa yakkaa ifitiif akka booji'ante hin beekan; isaan waan naaf addatamiisa dhabaneef, ani fuula kiyya isaan duraa dhoffadhee, nyaapha isaaniititti dabarsee isaan kennee, isaan marti shallaaga'aan ijjeefamane.

²⁴ Ani akkuma battummaa isaaniitii fi yakkaa isaanii isaaniif godhee, fuula kiyyalle isaan duraa dhoffadhe.

²⁵ «Tanaaf, Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Ani amma sanyii Yaaqoobii, kolbaa Israa'eliitiif hin marara; deebisee isaan hin qananoonsa; maqaan kiyya woyyichi akka hin arraffanne hin tolcha.

²⁶ Isaan biyya ifii keessa nami tokkolle adoo isaan hin sodaachisin lafa ifii keessa nageyaan yennaa le'anuu, salphinna ifitii fi naaf addatamiisa dhabiisa ifii mara hin dedhan.

²⁷ Ani gosa biyya adda addaa keessaa deebisee yennaa isaan fidu, biyya diina isaanii keessaa yennaa isaan wolitti qabu, ila gosa biyya adda addaa hedduu duratti karaa isaaniitiin woyyummaa tiyya hin mudhisa.

²⁸ Ani gosa biyya adda addaa oddu'utti akka isaan booji'amanu godhulle, nami tokkolle adoo hin hafin wolitti isaan qabee, gara lafa ifii akka isaan deebi'anuu hin godha; achiin duuba isaan akka ani Mootii Waan Maraa te'e hin beekan.

* **39:11** *Hamoon Googi: Afaan Ibrootaatiin Gumii Googii jechu'u.*

²⁹ Ani ayyaana kiyya kolbaa Israa'elii irratti hin dhangalaasa; ani hagonaa achi fuula kiyya isaan irraa hin deebifadhu» jedha Gootaan Mootiin Waan Maraa» jedhe.

40

Mudhii Galma Waaqaa Haareyaa

¹ Nuuti booji'annee woggaa diddamii shaneesso'oo, qachaan Yerusaalemii diigameen duuba, woggaa kudhanii arfeesso'oo, ji'a jalqabaa guyyaa kudha-neesso'oo, guyyuma san irreen Mootii Waan Maraa ana irra jiraayyu; inni na fuudhee gara qachaa Yerusaalemii na geesse.

² Inni mudhii Waaqaatiin gara lafa Israa'elii na geessee, gaara akka malee dheeraa tokko irra na dhaabbachiise. Wonni akka ijaarsa qacha'aa jiru tokko gara kibbaatiin gaara san irra jiraayyu.

³ Yennaa inni achi na geesse, kunoo, namichi tokko ka bifi isaa sageettuu fakkaattu, wodaroo quncee talba'aatii fi ulee ittiin mikanu* harka ifiititti qabatee seensuma karraa keessa dhaabbateeraayyu.

⁴ Namichi sun anaan, «Ee ilma namaa! Ila teetiin ilaali; gurra keetiin dhage'i; qalbii teetille waan ani sitti mudhisu kana mara irra keyadhu; wonni ati as dhutteef, akka ani waan kana sitti mudhisu waan teeteef, waan dhaggite mara kolbaa Israa'elii ititti himi» jedhe.

Karra Gara Karaa Adduun Baatuu

⁵ Kunoo, adaala Galma Waaqaa mara dalleya dhaka'aatitti marseeraayyu; harka namichaa keessa ulee miki'ii ta dheerinni isi'ii ciqilee namichaa jaatitti jiraayyu; ciqileen namichaa ciqilee tokkoo fi taakku'u. Inni dalleya dhaka'aa san yennaa miku, furdinni isaa ulee miki'ii san tokko, hojjaan ulee miki'ii san tokko te'e.

⁶ Achiin duuba inni gara karra karaa aduun baatu jiruu dhufee, yaabban-noo karraa irra ol bayee, eeddummee karra duraa yennaa mike ulee miki'ii tokko teete.

⁷ Kollooti worra eeddootaa ta cina'aa dheerinni isaanii ulee miki'ii san tokko, badhinna isaaniille ulee miki'ii san tokko; kollooti cina'aa sun ciqilee shan gargar fagaatan; dheerinni eeddummee seensuma karra soroo Galma Waaqaa bira, gara keessaatiin dhuma irra jirtuu, ulee miki'ii tokko.

⁸ Achiin duuba inni soroo seensuma karra Galma Waaqaa gara keessaatiin jirtu mike.

⁹ Soroo karaa seensuma karraa sun ciqilee saddeeti; utubaan isi'ii ciqilee lama furduta; soroon seensumaa sun gara keessaatiin jirti.

¹⁰ Kolloon eeddootaa ta karra karaa aduun baatuu garanaan sad gara kaanille'een saditti jiraayyu; isaan sadiinuu wol qixxe'e; utubooti kolloota san garanaa fi gara kaaniin jiranulle wol qixxe'e.

¹¹ Achiin duuba inni badhinna seensuma karra sanii ciqilee kudhan, dheerinna isi'ii ciqilee kudhanii sad mike.

¹² Kolloo eeddootaa ta garanaa fi garakaaniin jirtu san tokko tokkooyyuu dura dalleenni dhaka'aa gabaabaan ka hojjaan isaatii fi furdinni isaa ciqilee tokkootitti jiraayyu; badhinna kolloo eeddootaa wol qixxee te'annee ciqilee jaa.

¹³ Achiin duuba inni karra san qaccee dhaaba kolloo eeddootaa tokko irraa gara duubaatiin haga qaccee dhaaba kolloo eeddootaa ta gara kaaniititti ciqilee diddamii shan mike.

¹⁴ Inni utuboota soro'oo sanille yennaa mike ciqilee jaatama teete; adaala soroo seensumaa san badhinna dalleya keessaatitti jiraayyu.

* **40:3** Ulee ittiin mikanu: Ta dheerinnaa fi badhinna woyii ittiin haga ilaalanu.

¹⁵ Seensuma karraa fuula duraa kaasee haga soroo seensumaa qaccee isi'ii ta gara keessaatitti ciqilee shantama.

¹⁶ Kollooti eeddootaa gara maraan akkuma soroo seensumaa middaa fi bita'aan foddaa dhidhiphoo qaban; foddaan adaala sanii marti karra seensumaa fuula dura jiran; utuboota irra fakkii muka meexxi'iititti jiraayyu.

Badhinna Dalleya Keessaa Ka Alaa

¹⁷ Achiin duuba inni gara badhinna dalleya keessaa ka gara alaa na geesse. Kunoo, kollootaa fi dhakaa afametti adaala badhinna dalleya keessaa san jiraayyu. Dhakaa afameeru san fuula dura kolloota soddomatti jiraayyu.

¹⁸ Dhakaan afameeru ka jalaa karra seensumaatiin wol qabatee hujameera; badhinna isaalle haguma dheerinna karra sanii ti.

¹⁹ Achiin duuba inni karra gara jalaa fuula duraa kaasee haga badhinna dalleya keessaa ka gara keessaatiin fuula duraatitti fageenna jiru ciqilee dhibba tokko te'e.

Karra Gara Kaabaa

²⁰ Achiin duuba inni karra gara kaabaatitti jirtu, ta fuullee badhinna dalleya keessaa ka gara alaa dheerinnaa fi badhinna isi'ii mike.

²¹ Kollooti isi'ii ta eeddootaa garanaan sad, gara kaanille'een sad; utubooti isi'iitii fi soroon isi'ii haguma ka karra qaraa ti; dheerinni isi'ii ciqilee shantama, badhinna isi'ii ciqilee diddamii shan.

²² Foddaan isi'ii, soroon isi'iitii fi fakkiin muka meexxi'ii ta isii irra jirtu ta karra karaa aduun baatuu waliin woluma qixxe'e; yaabbannoo torbaan gara seensuma karra sanii ol bayan; soroon seensuma karra sanii qaccee gara keessaatiin jirti.

²³ Akkuma karra karaa aduun baatuu, karri karaa kaabaatitti jirtu, ta fuullee badhinna dalleya keessaa ta gara keessaalle jirti; karra tokko irraa haga karra taaniititti yennaa inni mike ciqilee dhibba teete.

Karra Gara Kibbaa

²⁴ Achiin duuba inni gara kibbaa na geesse; achille, kunoo, karri gara kibbaatitti fuula galteertu takka jirti. Innille utuboota isi'iitii fi soroo isi'ii mike; isaanille karra dhibi'iin woluma qixxe'e.

²⁵ Karri sunii fi soroon isi'ii akkuma karra dhibi'ii naannoo ifii irratti fooddota qaban. Dheerinni isi'ii ciqilee shantama, badhinna isi'ii ciqilee diddamii shan.

²⁶ Yaabbannoon torba ta gara isi'ii ol ittiin bayanutti jira; soroon isi'ii fuullee saniin jirti; utuboota cinaa isi'ii ka gara lamaaniituu irra fakkii muka meexxi'iititti irra jira.

²⁷ Badhinna dalleya keessaa ka gara keessaa karra gara kibbaatitti fuula galteertu qaba; inni karra san irraa jalqabee haga karra gara kibbaa ta gara alaa mikee, ciqilee dhibba teete.

Badhinna Dalleya Keessaa Ka Keessaa

²⁸ Achiin duuba karaa karra kibbaatiin gara badhinna dalleya keessaa ka gara keessaa na geessee, inni yennaa karra kibbaa san mike, isiin karra dhibi'iin woluma qixxee teete.

²⁹ Kolloon eeddootaa ta isi'ii, utubooti isi'iitii fi soroon isi'ii ta karra dhibi'iitiin woluma qixxe'e; isi'ii fi soroon isi'ii naannoo ifii mara irratti foddaa qaban. Dheerinni isi'ii ciqilee shantama, badhinna isi'ii ciqilee diddamii shan.

³⁰ Sorooti adaala san maratti naannowaneeranu, dheerinni isaanii ciqilee diddamii shan, badhinna isaanii ciqilee shan.

³¹ Soroon isi'ii gara badhinna dalleya keessaa ka gara alaa fuula galteerti; utuboota isi'ii irra fakkii muka meexxi'iititti jira; karaan ittiin ol yaabanu yaabbannoo saddeeti qaba.

³² Achiin duuba inni gara badhinna dalleya keessaa ka gara keessaa ka karaa aduun baatuu na geessee, karra san mike. Isiille karra dhibi'iin woluma qixxee teete.

³³ Kolloon eeddoota ta isi'ii, utubooti isi'iitii fi soroon isi'ii ta karra dhibi'iitiin woluma qixxe'e; isi'ii fi soroon isi'ii naannoo ifii mara irratti foddaa qaban. Dheerinni isi'ii ciqilee shantama, badhinni isi'ii ciqilee diddamii shan.

³⁴ Soroon isi'ii gara badhinna dalleya keessaa ka gara alaa fuula galtee, utuboota isi'ii ka gara lamaanittuu irra fakkii muka meexxi'iititti jira; karaan ittiin ol yaabanu yaabbannoo saddeeti qaba.

³⁵ Achiin duuba inni gara karra karaa kaabaa na geesse. Yennaa inni isii mike karra dhibi'iin woluma qixxee teete.

³⁶ Kolloon eeddoota ta isi'ii, utubooti isi'iitii fi soroon isi'ii ta karra dhibi'iitiin woluma qixxe'e; isi'ii fi soroon isi'ii naannoo ifii mara irratti foddaa qaban. Dheerinni isi'ii ciqilee shantama, badhinni isi'ii ciqilee diddamii shan.

³⁷ Soroon seensumaa gara badhinna dalleya keessaa ka gara alaatitti fuula galteerti. Utuboota gara lamaanittuu irra fakkii muka meexxi'iititti jira; karaan ittiin ol yaabanu yaabbannoo saddeeti qaba.

Kolloo Ciincaa Itti Qopheessanu

³⁸ Soroo karra karaa kaabaa ta gara keessaa bira kolloo balbala qaddu ta kennansi gubamu itti dhiqamutti jiraayyu.

³⁹ Soroo san keessa xarapheessaan lama lama cinaa lamaanuu ka kennansi gubamu, kennansi sababa cubbu'uutiif dhikaatuu fi kennansi sababa yakka'aatiif dhikaatu irratti qalamu jiran.

⁴⁰ Soroo seensuma karra karaa kaabaa gara alaatiin yennaa ol bayanu cinaa lamaanuu xarapheessaa wol fakkaatu lama lamatti jiraayyu.

⁴¹ Maarre karra san gara keessaatiin xarapheessaan horiin ciinca'aaf dhikaatu irratti qalamanu afur, cinaa taanille'een xarapheessaan afur wolumaa galatti xarapheessaa saddeetitti jiraayyu.

⁴² Xarapheessaan afur ka dhakaa irraa hujamane, ka dheerinni isaanii ciqilee tokkoo fi gamisa, badhinni isaanii ciqilee tokkoo fi gamisa, hojjaan isaanille ciqilee tokkoo, ka kennansi gubamu irratti dhikaatu achi jiran. Xarapheessota kana hayyooti meya horii kennansa gubamuu fi ciincaa dhibi'iif dhikaatanu ittiin qalanulle irra keyatan.

⁴³ Hookkoti qaccee lamaa ka dheerinni tokko tokkoo isaanii taakkuu tokko tokkoo naannoo dhaaba mana dhaka'aa san mara irratti dongoramaneeran; xarapheessota san foon kennansaaf dhikaatutti irra keyama.

Kolloota Hayyootaa

⁴⁴ Badhinna dalleya keessaa ka gara keessaa keessa, karra keessaatiin ala kolloota lamatti jiraayyu; takkattiin cinaa karra karaa kaabaa gara kibbaa fuula galtee, takkattiin cinaa karra kibbaa gara kaabaa fuula galteerti.

⁴⁵ Inni anaan, «Kolloon karaa kibbaa fuula galteertu tun ta hayyoota itti gaafatantoota hujii Galma Waaqaa keessa ti;

⁴⁶ kolloon karaa kaabaa fuula galteertu tun ta hayyoota itti gaafatantoota hujii addee ciinca'aa ti; hayyooti tun sanyii Zaadoqii, ilmaan Lewwi'ii worra Mootii Waan Maraattitti dhikaatee isa tajaajiliisaaf eeyyama qabuu ti» jedhe.

⁴⁷ Inni badhinna dalleya keessaa ka gara keessaalle mike; dheerinni isaa ciqilee dhibba, badhinni isaalle ciqilee dhibba; cinaan isaa arfanuu wol qixxe'e. Addeen ciinca'aa Galma Waaqaa dura jirtiyyu.

Soroo Galma Waaqaa

⁴⁸ Achiin duuba inni gara soroo seensuma Galma Waaqaa na geessee, inni utuboota isi'ii tokko tokkoon yennaa mike, ka cinaa lamaaniituu dheerinni isaanii ciqilee shan shan te'ane; badhinni seensumaa ciqilee kudhanii afur, furdinni gindaa isi'ii ka cinaa lamaaniituu ciqilee sad sad te'ane;

⁴⁹ Dheerinni soroo sanii ciqilee diddama, badhinni isi'ii ciqilee kudhanii lama; yaabbannoo kudhaniin gara isi'ii ol bayan. Yaabbannoota san cinaa lamaan utubootatti jiraayyu.

41

Addee Woyyitti'ii Fi Addee Irra Caalaa Woyyittii Galma Waaqaa Keessaa

¹ Achiin duuba gara addee irra caalaa woyyittii Galma Waaqaa na geessee, inni utuboota isi'ii mike; badhinni utuboota isi'ii ka cinaa lamaaniituu ciqilee jaa te'e.

² Badhinni balbala isi'ii ciqilee kudhan te'e; badhinni dhaaba isi'ii ka cinaa lamaanii tokko tokkoon isaatuu ciqilee shan te'e; inni addee woyyittii Galma Waaqaa mikee, dheerinni isi'ii ciqilee afurtama, badhinni isi'ii ciqilee diddama te'e.

³ Achiin duuba gara kolloo keessaa seenee, utuboota balbala isi'ii mikee, dheerinni ciqilee lama, badhinni balbalaa ciqilee jaa, badhinni dhaabi isi'ii ka cinaa lamaanii tokko tokkoon isaatuu ciqilee torba te'e.

⁴ Inni dheerinna Addee Irra Caalaa Woyyittii Galma Waaqaa keessaa mikee, dheerinni isi'ii ciqilee diddama, badhinni isi'iille ciqilee diddama te'e; achiin duuba inni, «Tun addee irra caalaa woyyitti'i» jedhe.

⁵ Achiin duuba inni dhaaba dhaka'aa ka Galma Waaqaa mikee, furdinni isaa ciqilee jaa, badhinni kolloota adaala Galma Waaqaa san jiranuu tokko tokkoon isaanii ciqilee afur te'ane.

⁶ Kollooti cinaa lamaanii kuun kaan gubba'atti sufamee, sufaa sad te'ane wol irratti ijaaramaneeran; sufaan sun tokko tokkoon isaanii kolloo soddoma qaban. Kolloota cinaa Galma Waaqaa jirtu san kipiisaaf dagalee heddu'utti jira; te'uu malee dagaleen hedduun sun Galma Waaqaatitti hin maxxanne.

⁷ Badhinni kolloota adaala Galma Waaqaa sun sufuma sufaa irratti badhataa ol ideema; dhaabi ijaarsaa ka jalaa ka ol aanu caalaa furdata; yaabbannoon jalaa ol sufaa wodhakka'aa keessa bayee gara sufaa gubba'aatitti baasu jiran.

⁸ Galmi Waaqaa hundee ol kaafantee itti marfantee ijaarante akka qabu dhagge; hundeen kolloota cina'aa sun hunduma san irratti ijaaranteerti. Furdinni hundee sanii ulee miki'ii ta ciqilee dheertuu jaa san tokko teete.

⁹ Furdinni dhaaba ijaarsa kolloota cina'aa ka gara alaatiin jiru ciqilee shan. Addeen duwwaan kollootaa cinaa Galma Waaqaatii fi

¹⁰ kolloota hayyootaa wodhakkaa jirti; badhinni isi'ii adaala Galma Waaqaa cinaa maraanuu ciqilee diddama.

¹¹ Kollooti cinaa Galma Waaqaa balbala gara addee duwwa'aa banantu qaban. Balbalti takkattiin gara kaabaa, balbalti takkattiin gara kibbaa fuula galteerti. Addeen duwwaan sun gara maraanuu ciqilee shan.

¹² Galma Waaqaa irraa karaa aduun seentuun, ijaarsi gara badhinna dalleya keessaa ka Galma Waaqaatitti fuula galeeru tokko jiraayyu; furdinni

dalleya ijaarsa sanii gara maraanuu ciqilee shan, badhinna isaa ciqilee torbaatama, dheerinni isaa ammoo ciqilee sagaltama.

¹³ Achiin duuba inni Galma Waaqaa mikee, dheerinni isaa ciqilee dhibba te'e; badhinna dalleya keessaa ka Galma Waaqaatii fi ijaarsi sun dalleya ifii waliin dheerinni ciqilee dhibba te'e.

¹⁴ Karaa aduun baatuun badhinna dalleya keessaa ka Galma Waaqaa addee Galma Waaqaa fuula dura jirtu waliin ciqilee dhibba te'e.

¹⁵ Achiin duuba inni dheerinna ijaarsa gara badhinna dalleya keessaa ka Galma Waaqaa fuula galee, Galma Waaqaatiin duuba jiru mikee, soroo isaa waliin ciqilee dhibba te'e.

Soroon Galma Waaqaa ka badhinna dalleya keessa ka gara keessaatitti fuula gale, addeen woyyitti'ii fi addeen irra caalaa woyyitti'ii,

¹⁶ gulantaan, irga foddaa dhidhipha'aa, seesa dhaaba manaa ka gara keessaa, waan adaala san jiru maratti muki hephellichi itti gonfameera.

¹⁷ Addee balbalaan gubba'aa, dhaaba addee irra caalaa woyyitti'iitii fi dhaaba addee woyyitti'ii keessaa gara alaatiin soroo Galma Waaqaa

¹⁸ fakkiin dada ol-gubba'aa ka koola qabanuutii fi fakkiin muka meexxi'ii itti qiriixamaneeran. Dadi ol-gubba'aa ka koola qabanu sun tokko tokkoon isaaniituu fuula lama qaban.

¹⁹ Ka fuula namaa qabu gara muka meexxi'ii ka gara tokkoo, ka fuula neenqa dardaraa qabu gara muka meexxi'ii ka gara kaanii fuula galeera. Isaan martinuu naannoo Galma Waaqaa irratti qiriixamaneeran.

²⁰ Lafa irraa kaasee haga balbalaan gubba'aatitti dhaaba addee woyyitti'ii irralle'etti dadi ol-gubba'aa ka koola qabanuu fi muki meexxi'ii irratti qiriixamaneeran.

²¹ Mikikkilooti balbala addee woyyitti'ii roga afur ka wol qixxee te'e qaban. Mikikkilooti balbala addee irra caalaa woyyitti'ii dura jiranulle akkasuma roga afur ka wol qixxee te'e qaban.

Addee Ciinca'aa Ta Mukaan Hujate

²² Addeen ciinca'aa ta muka irraa hujante, ta hojjaan isi'ii ciqilee sadii, dheerinni isi'ii ciqilee lamaatii fi badhinna isi'iille ciqilee lamaa takka jirtiyyu; rogi isi'ii, shafeen isi'iitii fi cinaan isi'ii mukaa irraa hujameera; inni anaan, «Kun xarapheessaa Mootii Waan Maraa dura jiru» jedhe.

Balbala Galma Waaqaa

²³ Addee woyyitti'ii fi addeen irra caalaa Woyyitti'ii tokko tokkoon isaanii balbala lama lama qaban.

²⁴ Balbalti tokko tokkoo isaanii saanqaa gara lamatti banamu lama lama qaban.

²⁵ Akkuma dhaaba irratti qiriixameerutti balbala addee woyyitti'ii irralle'etti fakkiin dada ol-gubba'aa ta koola qadduutii fi fakkiin muka meexxi'ii qiriixamaneeran; soroo Galma Waaqaa san fuula duraan soroon jala qaxxaamuraa ta mukaan hujanteertu jirtiyyu.

²⁶ Dhaaba soroo sanii gama lamaaniinuu foddaa dhidhiphaa fakkiin muka meexxi'ii irratti qiriixamaneeranutti irra jira; kollooti cinaa Galma Waaqaalle karaa seensumaatiin soroota jala qaxxaamuranu qaban.

42

Kolloota Hayyootaa

¹ Achiin duuba inni karaa kaabaatiin gad na baasee gara badhinna dalleyaa keessaa ka gara alaatiitti na fidee, gara kolloota fuullee badhinna

dalleya keessaa ka Galma Waaqaatii fi fuullee ijaarsa gara kaabaa sanitti na geesse.

² Dheerinni ijaarsaa ka balbalti isaa karaa kaabaa fuula galteertuu sun ciqilee dhibba, badhinna isaa ciqilee shantama.

³ Badhinna dalleya keessaa ka gara keessaa irraa ciqilee diddama irratti, fuullee afinaa dhaka'aa ka badhinna dalleya keessaa ka gara alaatitti kollooti addee bashannanaa heellichoo gubba'aa qaddu fuula wolitti galanee wol irratti sufaa sadiin ijaaramaneeran.

⁴ Kolloota san dura karaan gara keessaa dabarsu ka badhinna isaa ciqilee kudhan, dheerinni isaa ciqilee dhibba tokkootitti jira. Balbalti kolloota sanii karaa kaabaatiin jiran.

⁵ Akkuma kollooti wol irratti sufamaa ol ideemanuun, addeen bashannanaa ta heellichoo gubba'aa badhataa waan ideentuuf, kollooti ol aananu kolloota gad aananuu fi kolloota wodhakka'aa caalaa dhiphatan.

⁶ Kollooti sufaa sadiin wol irratti waan ijaaramaneeranuuf, akka badhinna dalleya keessaa utuboota hin qabanu; tanaaf kollooti ol aananu kolloota gad aananuu fi kolloota wodhakka'aa caalaa dhiphatan.

⁷ Karaa badhinna dalleya keessaa gara alaatiin fuullee kollootaa dalleenni dhaka'aa ka ciqilee shantama dheeratu tokko jira.

⁸ Kollooti badhinna dalleya keessaa ka gara alaa ciqilee shantama dheeratan; tarreen kolloota fuullee Galma Waaqaa jiranu ciqilee dhibba dheeratti.

⁹ Badhinna dalleya keessaa ka gara alaatiin yennaa ol seenanu, karaa aduun baatuun, gara kolloota gad aananu seensuma tokkotti jira.

¹⁰ Karaa kibbaatiin badhinna dalleya keessaa ka gara alaatitti, badhinna dalleya keessaa ka Galma Waaqaatitti aananee, fuullee badhinna dalleya keessaa ka gara alaatiin kollooti jiran.

¹¹ Kolloota san dura karaan dabaranu jira; kollooti sun dheerinnii fi badhinna isaanii, karaan gad bayanu, akki isaan itti ijaaramaneeranu, balbalti isaanille kolloota karaa kaabaa waliin wol fakkaatan.

¹² Balbalti kolloota karaa kibbaalle wol qixa; jalqaba karaa dabaranuu san seensumatti jira; maarre nami dhuma dalleyaatiin karaa aduun baatuun seena.

¹³ Achiin duuba inni anaan, «Kollooti kaabaatii fi kibbaa worri fuullee badhinna dalleya keessaa ka Galma Waaqaa jiranu sun woyyoota. Achitti hayyooti fuula Mootii Waan Maraa dura dhikaattu kennansa woyyicha nyaatti. Addeen sun woyyittii waan teeteef, kennansa irraa caalaa woyyuu te'e: kennansa midhaanii, kennansa sababa cubbu'uutiif dhikaatu, kennansa sababa yakka'aatiif dhikaatulle achi keyan.

¹⁴ Hayyooti gara addee woyyitti'ii san seenaneen duuba uffanni achi keessa ittiin tajaajilanu woyyuu waan te'eef, uffana san adoo ifi irraa baafatanee lafa hin keyin, achi keessaa gara badhinna dalleya keessaa ka gara alaatitti gad hin bayanu. Isaan gara addee kolbaa taaniititti adoo gad hin bayin woyaa dhibii uffatuu qaban» jedhe.

Mikii Adaala Galma Waaqaa

¹⁵ Namichi sun Galma Waaqaa keessa mikee fixeen duuba, gara karra karaa aduun baatuutiin gad na baasee, adaala alaa san mike.

¹⁶ Inni ulee miki'ii fuudhee cinaa karaa aduun baatuu mikee ciqilee dhibba shan te'e.

¹⁷ Achiin duuba karaa kaabaa ulee miki'iitiin mikee ciqilee dhibba shan te'e

¹⁸ Karaa kibballe mikee ciqilee dhibba shan te'e

¹⁹ karaa aduun seentulle mikee ciqilee dhibba shan te'e.

²⁰ Maarre inni Galma Waaqaa cinaa arfanuu mara mike. Dalleenni dhaka'aa ka addee woyyittii addee woyyittii hin te'in irraa adda baasu ka dheerinni isaa ciqilee dhibba shanii, badhinni isaalle ciqilee dhibba shanii adaala san jiraayyu.

43

Mootiin Waan Maraa Kolbaa Ifii Odduu Jiraate

- ¹ Achiin duuba inni gara karra karaa aduun baatuu na geesse.
- ² Kunoo, ulfinni Waaqa Israa'elii karaa aduun baatuun dhufuun dhagge. Shookkessi dhufiisaa isaa akka shookkettii bisaan xinniquu ti; ulfinna isaatiin latti balaqqitte.
- ³ Mudhiin ani dhagge ta akka ani yennaa inni qachaa balleessiisaaf dhufe dhagge fakkaattu, mudhii laga Kebaarii biratti dhaggelle'een ta wol fakkaatti. Anille addaan lafatti gad gombifame.
- ⁴ Ulfinni Mootii Waan Maraa karaa karra karaa aduun baatuutiin gara Galma Waaqaa akkuma seeneen,
- ⁵ Ayyaanni ol na fuudhee gara badhinna dalleya keessaa ka gara keessaa na geesse; kunoo, ulfinni Mootii Waan Maraalle Galma Waaqaa guute.
- ⁶ Namichi sun adoo na bira dhaabbatiisatti jiruu, nami tokko Galma Waaqaa keessaa natti dubbatuun dhage'e;
- ⁷ inni anaan, «Ee ilma Namaa! Tun addee barcumaa mootummaa tiyyaa, addee ijyata miila kiyyaa, addee ani kolbaa Israa'elii odduu haga bara baraa le'u. Kolbaan Israa'eliitii fi moototi isaanii hagamaa achi gaarayyeeffatiisaan, waaqota dharaa ka lubbuu hin qanne ka mootota ifii addee waaqonfannaa ifiititti waaqonfatiisaan maqaa kiyya woyyicha hin batteessanu.
- ⁸ Karaa seensuma balbala isaanii, karaa seensuma balbala tiyya bira, mikikkila isaanii mikikkila kiyya biratti dhaabiisaan, anaa fi isaan wodhakkaa dhaaba dhaka'aa tokko qofatti jira. Isaan waan diqachiisaa ifitiin maqaa kiyya woyyicha batteessane; tanaaf ani aarii tiyyaan isaan fixe.
- ⁹ Amma isaan gaarayyeeffata ifiitii fi waaqota dharaa ka lubbuu hin qanne ka mootota ifii anarraa geegessanuu ti; anille odduu isaanii haga bara baraa hin jiraadha.
- ¹⁰ «Ee ilma namaa! Yakkaa hujane akka fokkifatanu, marroo Galma Waaqaa kolbaa Israa'eliititti himi; isaan attam akka inni itti ijaaramiisaaf karoorfameeru yaadanuu ti.
- ¹¹ Isaan waan godhane maratti yoo fokkifatane, Galmi Waaqaa attam akka itti ijaaramiisaaf akeekkameeru, attam akka ijaaramaaru, karaa gad baya isaa, karaa seensuma isaa akka isaan beekanu godhi; akeeka ijaarsa isaa duudii, seerataa fi seera isaa mara akka dansaa akka beekanu godhi; akka isaan seeraa fi seerata isaa hubatanee muummessanu ila isaanii duratti barreessi.
- ¹² Seerri Galma Waaqaa kana: gaarri gubbaan adaallii gaaraa sun marti lafa irra caalaa woyyuu hin te'a. Kunoo, kun seera Galma Waaqaa ti.

Addee Ciinca'aa

- ¹³ «Mikiin addee ciinca'aa ta ciqilee dheertu'uu, ta ciqilee tokkoo fi taakku'uu ta asii gad jirtu. Jalli isi'ii ciqilee tokko hojjaa ol dheerata; isiin ciqilee tokko badhatti; irgi isi'ii ka itti naannoweeru taakkuu tokko hin te'a; kun hojjaa addee ciinca'aa hin te'a:
- ¹⁴ Hundee lafa irra jirtu irraa ka'ee haga irga buusaa gad aanuutitti hojjaan isi'ii ciqilee lama; badhinnille ciqilee tokko. Irga buusaa diqqa'aa irraa

kaasee haga irga buusaa gudda'aatitti hojjaan isi'ii ciqilee afur, badhinni isi'iille ciqilee tokko.

¹⁵ Addeen ibiddaa ta ciinca'aa hojjaan isi'ii ciqilee afur; addee ibiddaa irraa gaafoti afur ol bayeera.

¹⁶ Addeen ibiddaa ta ciinca'aa cinaan isi'ii arfanuu wol qixa teetee, dheerinni ciqilee kudhanii lama, badhinnille ciqilee kudhanii lama.

¹⁷ Kaabiin dhaka'aa sun cinaan arfanuu wol qixxee te'ee, dheerinni isi'ii ciqilee kudhanii afur, badhinni isi'ii ciqilee kudhanii afur te'ee, badhinni xiyyoo isi'ii ka itti marfameeru gamisa ciqile'ee ti; naannoon hundee isi'ii martinuu badhinni ciqilee tokko; yaabbannooti addee ciinca'aa karaa aduun baatuun jiraniyyu» jedhe.

¹⁸ Achiin duuba namichi anaan, «Ee ilma namaa! Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Addeen ciinca'aa tun hujantee, kennansi gubamu yennaa dhikaatuu fi addee ciinca'aa tana irratti dhiigi yennaa fiffixamu, seerri isaanii kana:

¹⁹ Ati dardara tokko ka kennansa sababa cubbu'uutiif dhikaatu, hayyoota natti dhikaatane ana tajaajilanu, sanyii Zaadoqii gosa Lewwootaatiif kenni.

²⁰ Ati dhiiga isaa irraa diqqaa isaa fuudhiitii gaafota addee ciinca'aa afur irratti, roga kaabii dhaka'aa afur san irratti, marsa xiyyoo isaa mara irratti dibi. Akka kanaan addee ciinca'aa qulleessiitii, cubbuu isi'iitiif gumaa tolchi.

²¹ Dardara kennansa cubbu'uutiif dhikaate san fuudhiitii, adaala Galma Waaqaatitti, addee waan kanaaf adda baatetti, addee woyyitti'in alatti gubi.

²² Guyyaa lammeesso'oo korbeessa re'e'ee ka fafa hin qanne fuudhiitii kennansa sababa cubbu'uutiif dhikeessi; addeen ciinca'aa akkuma dhiiga dardaraatiin qulleeffante, dhiiga korbeessa saniille'een qulleeffantuu ti.

²³ Qulleessiisa kana qulleessitee yennaa fixxe, tika keessaa dardaraa fafa hin qanne tokkoo fi korbeessa hoole'ee ka fafa hin qanne tokko,

²⁴ Mootii Waan Maraa dura dhikeessi; hayyooti soodda itti fiffixanee, kennansa gubamu godhanee Mootii Waan Maraatiif hin dhikeessan.

²⁵ Guyyuma guyya'aan, guyyaa torbaaf korbeessa re'e'ee tokko kennansa sababa cubbu'uutiif dhikeessi; tika keessalle'ee dardara fafa hin qanne tokkoo fi korbeessa hoole'ee ka fafa hin qanne qopheessan.

²⁶ Isaan guyyaa torbaaf addee ciinca'aa saniif, gumaa tolchanee isii hin woyyoonsan.

²⁷ Guyyooti kun yennaa dabarane, guyyaa saddeetesso'ootiin jalqabee gara duraatitti hayyooti kennansa gubamuu fi kennansa tokkumma'aa keessan addee ciinca'aa irratti hin dhikeessan; anille isin hin fudhadha» jedha Gootaan Mootiin Waan Maraa» jedhe.

44

Karra Karaa Aduun Baatuu Ta Gara Alaa

¹ Achiin duuba namichi sun gara karra Galma Waaqaa ta fuullee aduun baatuu ta gara alaa na geesse; karri sun cufanteertiyyu.

² Mootiin Waan Maraa anaan, «Karri tun cufanteetuma leeti malee ijumaa hin banantu; ani Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii achiin waan seeneef, eennulle achiin hin seenu. Tanaaf isiin akkuma cufantetti leeti.

³ Te'uu malee, gondaaltichi bulchaa biyyaa callaan sagalee woyyittii fuula ana Mootii Waan Maraa duratti nyaatiisaaf, achiin seenee tee'uu hin dande'a. Inni karaa soroo seensumaatiin seenee karuma seene saniin bayuu hin dande'a» jedhe.

Seerataa fi Seera Galma Waaqaa Ittiin Seenanu

⁴ Achiin duuba namichi sun karaa karra fuullee kaabaatiin Galma Waaqaa dura na geesse. Kunoo, ani ilaalee ulfinni Mootii Waan Maraa Galma Mootii Waan Maraa guuteeruun dhaggee, ani addaan lafatti gad gombifame.

⁵ Mootiin Waan Maraa anaan, «Ee ilma namaa! Qalbeeffadhuu ila teetiin ilaaliitii, waan ani sitti himu mara marroo seerataa fi seera Galma Waaqaa duudii gurra keetiin dhage'i! Karaa Galma Waaqaa seenanuu fi karaa Galma Waaqaatii gad bayanu midhassii hubadhu.

⁶ Worra finqilaa kolbaa Israa'eliitiin, «Goottaan Mootiin Waan Maraa: Isin kolbaa Israa'elii, hujiiin teessan diqachiittuun marti amma hin geetti.

⁷ Hujii teessan diqachiittuu san irratti edeetanee, worra naaf hin ajajanne ka haqanqabaa hin qabatin orma gara Galma kiyyaa galchitanee, yennaa sagalee, coomaa fi dhiiga naaf dhikeessitanu, Galma kiyya batteessitaneertan; gondooroo tiyyalle diiddaneertan.

⁸ Worri dhibiin meya kiyya woyyicha akka eeganuuf, achi keettane malee, isin ifiif meya woyyicha isinitti kenname san hin eenne jedha.

⁹ « «Goottaan Mootiin Waan Maraa: Worri naaf hin ajajanne, ormi haqanqabaa hin qabatin, ka kolbaa Israa'elii odduu le'ulle yoo te'e gara Galma kiyyaa hin seenin.

Lewwooti Tajaajila Hayyumma'aa Irraa Ari'amane

¹⁰ « «Israa'elooti na hordofiisa irraa yennaa fagaatane, Lewwooti waaqa dharaa ifii hordofiisaan joonjanelle hin adabaman.

¹¹ Lewwooti addee woyyittii tiyya keessa hin tajaajilan; karra Galma kiyyaa irra ideemanee ilaalaa, Galma kiyya keessa hin tajaajilan. Isaan kennansa gubamu qalanee, kolba'aafille ciincaa hin dhikeessan; dura isaanii dhaabbatanee kolbaa hin tajaajilan.

¹² Isaan waaqota dharaa duratti kolbaa tajaajilane, kolbaan Israa'elii yakkaa akka hujjuuf, gufuu waan te'aneef, akka isaan adabamuu qabanu kakadheera. Kana ana Mootii Waan Maraatiitti dubbate.

¹³ Isaan hayyuu te'anee ana tajaajiliisaaf gara kiyya hin dhikaatanu; gara meya kiyya woyyichaa, gara waan kiyya ka irra caala woyyu'uu maralle hin dhikaatanu; ammoo waan diqachiittuu hujane saniif salphinna ifii hin uffatan.

¹⁴ Te'uu malee, hujii Galma Waaqaa itti gaafatamuma'aan akka hujanu, hujii Galma kiyya keessaa mara itti gaafatamumma'aan akka hujantu hin godha.

Qajeelfama Hayyootaaf Kenname

¹⁵ « «Kolbaan Israa'elii yennaa ana irraa gorane, worri hujii Galma kiyya keessaa addatamumma'aan hujane, sanyiin Zaadoqii Lewwooti, ana tajaajiliisaaf na dura hin dhufan. Coomaa fi dhiiga naaf hin dhikeessan.

¹⁶ Isaan callaan gara Galma kiyyaa seenanee na hin tajaajilan; isaan callaan fuula kiyya duratti na tajaajiliisaaf, seerata waaqonfanna'aa kiyyalle muummessiisaaf gara qorii tiyyaa hin dhikaatan.

¹⁷ Isaan yennaa karra badhinna dalleya keessaa ka gara keessaa seenanu, woyaa quncee talba'aa irraa hujante uffatanuu ti; isaan yennaa karra badhinna dalleya keessaa ka gara keessaa seenanu yookiin Galma Waaqaa keessa tajaajilanu, woyaa rifeensa hoole'ee hin uffatin.

¹⁸ Isaan mataa ifii irratti marata quncee talba'aa irraa hujame maratanuu ti; mutaandii quncee talba'aa irraa hujante hidhatanuu ti; woyaa isaan danfisiittu hin uffatin.

¹⁹ Isaan gara kolba'aa badhinna dalleya keessaa ka gara alaatitti yennaa gad bayanu, woyaa ittiin tajaajilane baafatanee kolloota woyyoota keessa

keyanuu ti. Kolbaan woyaa woyyittii san tuxxee akka hin miidhanne*, woyaa dhibii uffatanuu ti.

²⁰ « «Isaan rifeensa mataa ifii quxatanuu ti malee, hin haadatin yookiin hin dheereffatin.

²¹ Hayyichi tokko gara badhinna dalleya keessaa ka gara keessaa yennaa seenanu, daadhii woyni'ii hin unin.

²² Hayyooti dubartii abbaan worra irraa du'e yookiin lakkise hin fuudhin; ammoo durra sanyii Israa'elootaa yookiin dubartii hayyichi tokko irraa du'e qofa fuudhuu hin dande'an.

²³ Hayyooti garaagarummaa waan aadaa dhugeeffanna'aatiin woyyuu te'eetii fi waan woyyuu hin te'inii kolbaa tiyya barsiisanuu ti; isaan garaagarummaa aadaa dhugeeffanna'aatiin waan qulqulluu te'eetii fi waan qulqulluu hin te'iniille isaanitti mudhisanuu ti.

²⁴ « «Moromaan yennaa kaatu, isaan abbootii mura'aa te'anee tajaajilanuu ti; isaan akka seera kiyyaatitti muranuu ti. Isaan seeraa fi seerata jila tiyya ta beekkantee mara eegatanuu ti; Sanbata kiyyalle woyyoonsanuu ti.

²⁵ Isaan nama du'etti dhikaatanee ifi hin batteessin. Te'uu malee nami du'e sun abbaa yookiin haadha, ilma yookiin intala, obboleessa yookiin obboleettii hin heeruminiif ifi batteessuu hin dande'an.

²⁶ Hayyichi tokko qulqulloomeen duuballe guyyaa torba eegatuu ti.

²⁷ Inni Galma Woyyicha keessa tajaajiliisaaf gara Galma Woyyichaa, gara badhinna dalleya keessaa ka gara keessaa gaafa seenu kennansa sababa cubbuu ifii dhikeessuu ti; ani Gootaan Mootiin Waan Maraa tana dubbadheera.

²⁸ « «Ani lafa isaanii waan te'eef, Israa'el keessatti hayyootaaf latti hin kennamin. Ani qabeenna isaanii ti.

²⁹ Kennansi midhaanii, kennansi sababa cubbu'uutii fi kennansi sababa yakka'aa, Israa'el keessatti wonni ana Mootii Waan Maraatiif murteeffame marti ta isaanii ti.

³⁰ Midhaan gosa maraa keessaa ka mata'aa marti, kennansa keessan keessaa kennansi gosa maraa marti ka hayyootaa ti. Eebbi mana keessan irratti akka bu'uuf, bullaa teessan ta mata'aa irraa hayyootaaf kenna'a.

³¹ Hayyooti foon waan tokkoolle, foon sinbirre'ee yookiin foon bineensaa, foon waan ifiin du'ee yookiin foon waan bineensi ijjeesee hin nyaatin.

45

Hirama Lafaa

¹ « «Isin hixaa buusiisaan lafa yennaa hirtanu, lafa kutaa woyyittii dheerinni isi'ii ciqilee kuma diddamii shan, badhinni isi'ii ciqilee kuma diddamaa, Mootii Waan Maraatiif adda baasa'aatii kenna'a; latti sun duudiin woyyuu hin teeti.

² Lafa san keessaa ta dheerinni isi'ii ciqilee dhibba shan, badhinni isi'iille ciqilee dhibba shan te'e, ta addee duwwaa badhinni isi'ii ciqilee shantamaa adaala ifiitii qaddu Galma Waaqaatiif teetuu ti.

³ Addee woyyittii san irralle'ee, lafa dheerinni isi'ii ciqilee kuma diddamii shanii, badhinni isi'ii ciqilee kuma kudhanii miki; tun Addee Irra Caalaa Woyyittii Galma Waaqaa hin teeti.

⁴ Latti tun lafa san keessaa kutaa woyyittii hin teeti. Isiin hayyoota Galma Waaqaa keessa tajaajiltu, ta Mootii Waan Maraa tajaajiliisaaf isatti dhikaattuuf, hin teeti; addeen tun addee manni isaaniitii fi addee woyyittii Galmi Waaqaa itti ijaaramu hin teeti.

* **44:19** Kolbaan woyaa woyyittii san tuxxee akka hin miidhanne: Afaan Ibrootaatiin Woyaa ifitiin kolbaa akka hin woyyoonsine jedha.

⁵ Latti dhibiin ta irraa hatte, ta dheerinni isi'ii ciqilee kuma diddamii shanii, badhinii isi'ii ciqilee kuma kudhanii Lewwoota worra Galma Waaqaa keessa tajaajilanuuf, qachaa keessa le'anuu itti ijaarratiisaaf qabeenna isaanii hin teeti.

⁶ « Addee woyyittii adda baate sanitti aantee, addee badhinii isi'ii ciqilee kuma shanii, dheerinni isi'iille ciqilee kuma diddamii shanii, kolbaa Israa'elii maraaf addee qachaa itti ijaaranu teetuu ti.

Lafa Qondaaltichaa

⁷ « Qondaaltichi bulchaan biyyaa addee woyyittii sanii fi qachaa san karaa aduun seentuu fi karaa aduun baatuun, lafa haga meessaa biyyaa dheerattu qabaachuu qaba; latti sun haguma lafa gosa tokkoof kennantuu dheerattuu ti.

⁸ Latti tun lafa Israa'elii keessatti qondaalaaf hin teeti; haganaa achi qondaaltoti tiyya kolbaa tiyya hin cunqursanu; kolbaan Israa'elii ammoo akkuma gosa gosa ifiititti lafa qabaatanuu ti.

⁹ « Gootaan Mootiin Waan Maraa: Ee, qondaaltota Israa'elii! Isin geetuu ti; hunnaan namatti ka'iisaa fi nama cunqursiisa lakkisa'a; haqaa fi balchummaa huja'a; kolbaa tiyya lafa isaanii irraa ari'iisa lakkisa'a; tana ana Gootaa Mootii Waan Maraatitti dubbate.

¹⁰ Isin waan ittiin safartanu ka «Eefaa» jedhamuu fi ka «Baatihi» jedhamu ka sirrii te'ane qabaadha'a.

¹¹ Eefa'aa fi baatihiin sun wol qixxee te'anuu ti; isaan lamaanuu yennaa mara madaallii «Homer» jedhamu harka kudhan keessaa harka tokko qabatan. Homer madaallii wolii galaa te'uu ti.

¹² Isin biratti madaalliin keessan ka «Sheeqelii» jedhamu tokko madaallii «Geraa» jedhamu diddama; sheeqelii diddama irratti sheeqelii diddamii shanii fi sheeqeliin kudhanii shan yennaa ede'ame madaallii «Miinaa» jedhamu tokko hin te'a.

Kennansa Adda Addaati Fi Guyyaa Jilaa

¹³ « Kennansi isin dhikeessitanu, qamadii omeerii tokko tokko keessaa eefaa jaa keessaa eefaa tokko, garbuu omeerii tokko tokko keessaa eefaa jaa keessaa eefaa tokko,

¹⁴ Zayitii irralle'ee waan ittiin safartanu ka «Korii» jedhamu tokko tokkooyyuu irraa akkuma omeerii baatihi kudhan keessaa baatihi tokko te'uu ti.

¹⁵ Akkasuma tika hoolee Israa'elootaa ta lafa bisaan bacaan jiruu keessaa hoolee dhibba lamaa keessaa hoolee tokko kenna'a. Kun marti kennansa midhaanii, kennansa gubamu, kennansa tokkumma'aa ka gumaa cubbuu kolba'aa te'anuu ti. Kana ani Gootaan Mootiin Waan Maraa dubbadheera.

¹⁶ Kolbaan Israa'elii marti kennansa addaa kana qondaala Israa'el keessaatiif kennituu ti.

¹⁷ Kennansa gubamu, kennansa midhaanii, kennansa daadhii woyni'ii, guyyoota jilaatitti, guyyoota baatii ji'aatii fi guyyoota Sanbataatitti, jila Israa'elii ta beekkante mara irratti dhikeessiis hujii qondaala Israa'elii ti; inni kennansa sababa cubbu'uu, kennansa midhaanii, kennansa gubamuu fi kennansa tokkumma'aa kolbaa Israa'eliitiif gumaa araara cubbu'uu hin dhikeessa.

¹⁸ « Gootaan Mootiin Waan Maraa: Ji'a tokkeesso'oo, ji'a san keessa guyyaa tokkeesso'oo loon keessaa dardara fafa hin qanne tokko fuudhii ciincessii, Galma Waaqaa gulleessi.

¹⁹ Hayyichi dhiiga kennansa sababa cubbu'uu san irraa diqqaa isaa fuudhee, mikikkiloota Galma Waaqaa, irga addee ciinca'aa roga arfanuu,

mikikkiloota karra gara badhinna dalleya keessaa ka gara keessaatitti seenanuu dibuu ti.

²⁰ Nami tokko dokonkoraan yookiin adoo hin beekin cubbuu hujeeff guyyaa torbeesso'oo akkuma kana godhi; maarre akkanaa Galma Waaqaatiif gumaa godhi.

²¹ « 'Ji'a tokkeesso'oo guyyaa kudhanii arfeesso'ootitti, Jila Irra Dabaramaa jilifadha'a; guyyaa torbaaf daabboo ukoo hin qanne hin nyaattan

²² Inni guyyaa san qondaalli ifi fi kolbaa lafa sanii maraaf kennansa sababa cubbu'uu dardara tokko qopheessuu ti.

²³ Guyyoota jilaa torba sanitti, dardaroota torbaa fi korbeeyyii hoole'ee torba ta fafa hin qanne, guyyuma guyya'aan kennansa gubamuuf ana Mootii Waan Maraatiif hin qopheessa; korbeessa re'e'eelle kennansa sababa cubbu'uutiif guyyuma guyya'aan hin qopheessa.

²⁴ Inni dardara san tokko tokkooyyuu waliin bullaa eefaa tokko tokko, korbeessa hoole'ee san tokko tokkooyyuu waliin bullaa eefaa tokko tokko, bullaa eefaa tokko tokko sanille zayitii ejersaa litirii sad sad waliin qopheessuu ti.

²⁵ « 'Ji'a torbeesso'oo guyyaa kudhanii shaneesso'ootitti guyyoota jilaa torba sanitti, hayyichi kennansa sababa cubbu'uutiif, kennansa gubamuuf, kennansa midhaaniitii fi kennansa zayiti'iitiifille akkasuma qopheessuu ti.

46

Qondaalaa fi Kennansa Adda Addaa

¹ « 'Gootaan Mootiin Waan Maraa: Karri badhinna dalleya keessaa ka gara keessaa ta fuullee karaa aduun baatuu, guyyaa huji'ii jaa cufantuu ti; guyyaa sanbataatii fi guyyaa baatii ji'aa ammoo banantuu ti.

² Qondaalli yennaa alaa dhufu karaa soroo karraatiin seenee, mikikkila karraa san bira dhaabbatuu ti. Hayyooti kennansa inni qopheesse kennansa gubamuu fi kennansa tokkumma'aa dhikeessanu ti; qondaaltichi adduma badhinna karraa sanitti sagaduu ti. Achiin duuba inni hin baya; karri ammoo haga galgalaatitti hin cufantu.

³ Guyyaa sanbataatii fi guyyaa baatii ji'aa kolbaan lafa sanii seensuma karra saniititti Mootii Waan Maraa duratti gad gombifantee sagadduu ti.

⁴ Qondaaltichi guyyaa sanbataa kennansa gubamuuf buruusota korbeeyyii hoole'ee ta fafa hin qanne jaa fi korbeessa hoole'ee ka fafa hin qanne tokko Mootii Waan Maraatiif dhikeessuu ti.

⁵ Kennansi midhaanii ka korbeessa hoole'ee san waliin dhikaatu eefaa tokko te'uu ti; ka buruusota korbeeyyii hoole'ee san waliin dhikaatu haguma inni kennuu dande'e te'uu ti; eefaa tokko tokkooyyuu waliin zayitii litirii sad fiduu ti.

⁶ Guyyaa baatii ji'aa inni loon keessaa dardara fafa hin qanne tokko, buruusota korbeeyyii hoole'ee jaa fi korbeessa hoole'ee ka fafa hin qanne tokko dhikeessuu ti.

⁷ Kennansa midhaanii dardara tokko san waliin bullaa eefaa tokko, korbeessa hoole'ee tokko san wolille'een bullaa eefaa tokko, buruusota san waliin haguma inni kennuu dande'e, bullaa eefaa tokko tokko saniif zayitii litirii sad sad dhikeessuu ti.

⁸ Qondaalli sun yennaa seenu, karaa soroo karraatiin seenee, yennaa bayulle karuma saniin bayuu ti.

⁹ « 'Guyyoota jila beekkantee mara kolbaan lafa sanii Mootii Waan Maraa dura yennaa dhufanu, worri karaa karra kaabaatiin seene, karaa karra kibbaatiin bayanuu ti; worri karaa karra kibbaatiin seene, karaa karra

kaabaatiin bayanuu ti; eennulle karaa karra seeneetiin hin bayin. Ammoo adoo gara hin galin gara duraa bayuu ti.

¹⁰ Yennaa isaan seenanu, qondaalli isaan woliin seenuu ti; yennaa isaan bayanulle inni isaan woliin bayuu ti.

¹¹ Guyyoota jilaatii fi guyyoota jila beekkantee mara kennansi midhaanii ka dardara tokko woliin dhikaatu bullaa eefaa tokko, ka korbeessa hoole'ee tokko wolille'een dhikaatu eefaa tokko te'uu ti; buruusota woliin haguma inni kennuu dande'e, bullaa eefaa tokko tokkoof zayitii litirii sad dhikeessuu ti.

¹² « Qondaala fedhii ifitiin kennansa gubamu yookiin kennansa tokkumma'aa Mootii Waan Maraatiif dhikeessiisa dhufuuf, nami tokko karra fuullee karaa aduun baatuu isaaf banuu ti. Innille akkuma guyyaa sanbataa kennu san kennansa gubamuu fi kennansa tokkumma'aa kennuu ti. Achiin duuba inni bayee deemuu ti; inni deemeen duuba karri cufantuu ti.

¹³ « Inni guyyuma guyya'aan ganama mara buruusoo korbeessa hoole'ee ka fafa hin qanne ka woggaa tokkoo kennansa gubamuuf ana Mootii Waan Maraatiif hin dhikeessa.

¹⁴ Isa woliin kennansa midhaanii ganama mara bullaa eefaa tokko harka jaa keessaa harka tokko, bullaa ittiin sukkuumiisaaf zayitii litirii tokko qopheessuu ti; kunille seera yennaa maraa te'uu ti.

¹⁵ Akka kanaan buruusi korbeessa hoole'ee, kennansi midhaaniitii fi zayitiin guyyuma guyya'aan ganama mara kennansa gubamuuf dhikaatanuu ti jedha» jedhiin» jedhe.

Qondaaltichaa Fi Lafa

¹⁶ Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Qondaalli tokko lafa ifii irraa ilmaan ifii keessaa ilma tokkoof yoo kenne, latti sun ilmaan isaatii fi sanyii isaaniitiif dabartee dhaala teetuu ti.

¹⁷ Qondaalli tokko lafa ifii irraa tajaajiltoota ifii keessaa tajaajilaa tokkoof yoo kenne ammoo haga woggaa bilisumma'aatitti ka isaa teetuu ti. Achiin duuba isiin qondaaltichaaf deebituu ti; latti sun ta isaa waan teeteef, ilmaan isaa qofaaf teetuu ti.

¹⁸ Qondaalli kolbaa irraa lafa hunnaan hin fudhatin; kolbaan tiyya lafa ifii irraa akka hin bittinnoonneef, latti inni ilmaan ifitiif kennu qooda ifii qofa irraa teetuu ti» jedha.

Addee Kennansi Adda Addaa Itti Iffeelamu

¹⁹ Achiin duuba nami sun karaa seensuma karra bira jiruutiin gara kolloota woyyoota hayyootaa ta fuullee kaabaatitti tarre'etti jiranuu na geesse. Kunoo, dhuma kollootaa karaa aduun seentuun addee takkatti jiraayyu.

²⁰ Inni anaan, «Isaan kennansa woyyoota kana gara addee badhinna dalleya keessaa ka gara alaa fidanee kolbaan akka hin miidhanneef*, addeen tun addee hayyooti kennansa sababa yakka'aatiif dhikaatu, kennansa sababa cubbu'uutiif dhikaatulule itti iffeelanuu fi addee kennansa midhaanii itti bilcheessanu» jedhe.

²¹ Achiin duuba nami sun gara badhinna dalleya keessaa ka gara alaa na geessee, roga arfan irra na marsiise. Kunoo, roga badhinna dalleya keessaa san tokko tokkoo isaaniituu irra badhinna dalleya keessaa ka dhibi'itti jiraayyu.

* **46:20** Kolbaan akka hin miidhanne: Afaan Ibrootaatiin Kolbaa woyyoonsiisaaf jedha.

²² Roga badhinna dalleya keessaa san arfanuu irra badhinna dalleya keessaa didiqqaa ka dheerinni isaanii ciqilee afurtamaa, badhinna isaanille ciqilee soddomaatitti jiraayyu; isaan arfanuu woluma qixa.

²³ Cinaa badhinna dalleya keessaa didiqqaa san arfaniituu gara keessaatiin dhaaba dhaka'aatitti naanneffamee jiraayyu; dhaaba dhaka'aa san mara jala addee ibidda itti bobeessanutti jiraayyu.

²⁴ Achiin duuba namichi sun anaan, «Kun marti addee tajaajiltooti Galma Waaqaa ciincaa kolbaan dhikeessitu itti iffeeltu» jedhe.

47

Bisaan Galma Waaqaa Keessaa Burqu

¹ Achiin duuba namichi sun gara balbala Galma Waaqaa deebisee na fide; kunoo, mikikkila Galma Waaqaa san jalaa bisaan burqee, Galmi Waaqaa karaa aduun baatutti fuula waan galeeruuf, bisaan sun gara karaa aduun baatuu laana yaa'uun dhagge; bisaan sun addee ciinca'aa irraa gara kibbaatiin, Galma Waaqaa maddii kibbaatiin karaa aduun baatu gad yaa'e.

² Achiin duuba namichi sun karaa karra gara kaabaatiin Galma Waaqaa keessaa na baasee, gara alaatiin na marsiisee, gara karra gara alaa ta fuullee karaa aduun baatuu na geesse; kunoo, bisaan karra san gara kibbaatiin karaa aduun baatu laana yaa'uun dhagge.

³ Namichi sun wodaroo miki'ii qabatee bisaan karaa aduun baatu yaa'u gula deemee ciqilee kuma tokko mike; achiin duuba inni akka ani bisaan san keessa deemu na godhee, bisaan sun gulubii na geye.

⁴ Ammalle inni ciqilee kuma tokko mikkee akka ani bisaan san keessa deemu na godhee, bisaan sun jilba na geye; ammalle inni ciqilee kuma tokko mikkee, akka ani bisaan san keessa deemu na godhee, bisaan sun hidha na geye.

⁵ Itti dabalee inni ciqilee kuma tokko mike; bisaan sun waan guuteeruuf, qilee ka nami daakiisaan malee gamatti bu'iisa hin dandeenne waan te'eef, anille keessa deemee gamatti bu'iisa hin dandeenne.

⁶ Namichi sunille, «Ee ilma namaa! Ati tana dhaggiteertaa?» naan jedhe.

Achiin duuba inni gara qarqara lagaa duubatti na deebise.

⁷ Ani adoo deebi'iisatti jiruu qarqara laga sanii gamaa fi gamanatti mukoota akka malee bacaa dhagge.

⁸ Namichi sun anaan, «Bisaan kun gara lafa karaa aduun baatuu, gara dhooqa Yordaanosiititti gad yaa'a. Bisaan kun yennaa abbaayaa sooddaa seene, bisaan abbaayaa sooddaa sun haareffamee bisaan dansaa hin te'a

⁹ Addee bisaan sun dhaqu maratti dadi lubbuu qaddu marti lubbu'uun hin jiraatti; addee bisaan kun dhaqu maratti qurxummiin bacaan hin jiraatti; bisaan kun achi waan dhaquuf bisaan abbaayaa sooddaa tolee dansaa hin te'a; maarre addee bisaan kun dhaqu maratti wonni marti lubbu'uun hin jiraatti.

¹⁰ Worri qurxummii qabatu qarqara abbaayaa sooddaa hin dhaabbatan. En-Gedii jalqabee haga En-Eglaayimiititti lafa caccoo qurxummii ittiin qabatantu itti afatanu hin teeti; qurxummiin isi'ii akka qurxummii abbaayaa Mediteraaniya'aa qurxummii gosa adda addaa bacaa hin teeti.

¹¹ Te'uu malee caffaan isi'iitii fi haroon isi'ii soodduma te'anee hafan malee tolanee bisaan dansaa hin te'anuu.

¹² Qarqara laga sanii gamaa fi gamana mukooti adda addaa ka sagalee te'anuu hin latan. Isaan bisaan Galma Waaqaa jalaa burqu waan dhag-gatanuuf, baalli isaanii hin qooru; midhaan isaanille hin dhabamu; ji'uma

ji'aan midhaan haareya buusan; midhaan isaanii nyaataaf, baalli isaanii qorsaaf hin te'a» jedhe.

Meessaa Lafaa

¹³ Gootaan Mootiin Waan Maraa, «Meessaan lafa ati gosa Israa'elii kudhanii lamaaf qoodduu ka asii gad jiru kana. Gosi Yoseefii qooda lama qabaattuu ti.

¹⁴ Lafa tana wol qixxee qoodama'a; ani abbootii teessan ta duriitiif lafa tana kenniisaaf kaku'uun waadaa waan galeeruuf, latti tun dhaala keessan hin teeti.

¹⁵ «Meessaan lafa tanaa akkana hin te'a: Meessaan kaabaa abbaayaa Mediteraaniya'aa irraa ka'ee, karaa qachaa Hetlooniitiin haga seensuma Haamaatii dhaqee, dabareelle haga qachaa Zedaadii,

¹⁶ haga qachaa Beroota'atii fi qachaa Siibraayimii ka meessaa Damaasqootii fi meessaa Haamaatii wodhakkaa jiranuu, haga qachaa Haazer-Hatiikonii ka meessaa biyya Hawuraanii dhaqa.

¹⁷ Akka kanaan meessaan abbaayaa Mediteraaniya'aa irraa karaa aduun baatu, meessaa Damaasqoo gara kaabaatiin, qachaa Haamaatii gara kaabaatitti lakkisee, gara qachaa Hazar-Enonii dhaqa; kun meessaa kaabaa ti.

¹⁸ «Meessaan karaa aduun baatuu Damaasqoo fi Hawuraan wodhakka'aan dabaree, laga Yordaanosii gula lafa Giil'aadiitii fi lafa Israa'elii wodhakkaa dabaree, gara abbaayaa sooddaa ta karaa aduun baatuu haga qachaa Taamaarii dhaqa; kun meessaa karaa aduun baatuu ti.

¹⁹ «Meessaan kibbaa Taamaarii ka'ee haga bisaan Mariibaa-Qaadeshii ti; achille'ee laga gogaa Gibxi'ii gula haga abbaayaa Mediteraaniya'aa dhaqa; kun meessaa kibbaa ti.

²⁰ «Meessaan karaa aduun seentuu abbaayaa Mediteraaniya'aa te'ee haga fuullee seensuma Haamaatii dhaqa; kun meessaa gara aduun seentuu ti.

²¹ «Gosoota teessan Israa'el oddu'utti lafa tana qoqoodama'a;

²² isin ifii fi worra ormaa ka odduu teessan jiru ka ijoollee qabanuufille, dhaala godha'atii hixaa buusa'atii qoodama'a; isaan akkuma ijoollee Israa'elii ka worra dhalataa biyyaa te'anuu ti. Gosa Israa'elii oddu'utti hixaa buufatiisaan qooda lafaa qabaatanuu ti.

²³ Nami ormaa ka Israa'el keessa le'u kolbaa gosa Israa'elii ka keessa le'u waliin qooda ifii qabaatuu ti; ani Gootaan Mootiin Waan Maraa tana dubbadheera.

48

Qoqoodama Lafaa

¹ «Maqaan gosoota lafa qoodamiisaaf galmeeffamanee isaan kana: Karaa kaabaatiin gosi Daanii qooda tokko hin qabaata; meessaan isaalle abbaayaa Mediteraaniya'aa irraa ka'ee karaa qachaa Hetloonii dhaqu gula deemee gara seensuma Haamaatii, gara qachaa Hazar-Enonii dhaqa. Damaasqoo gara kaabaa lakkisee, meessaa karaa aduun baatuutii jalqabee haga meessaa karaa aduun seentuu ti.

² Meessaa Daaniititti aanee, meessaa karaa aduun baatuutii jalqabee haga meessaa karaa aduun seentuutitti, Asheer qooda tokko hin qabaata.

³ Meessaa Asheeriititti aanee meessaa karaa aduun baatuutii jalqabee haga meessaa karaa aduun seentuutitti, gosi Niftaalemii qooda tokko hin qabaata.

⁴ Meessaa Niftaalemiititti aanee, meessaa karaa aduun baatuutii jalqabee haga meessaa karaa aduun seentuutitti, gosi Minaase'ee qooda tokko hin qabaata.

⁵ Meessaa Minaase'eetitti aanee, meessaa karaa aduun baatuutii jalqabee haga meessaa karaa aduun seentuutitti, gosi Efreemii qooda tokko hin qabaata.

⁶ Meessaa Efreemiititti aanee, meessaa karaa aduun baatuutii jalqabee haga meessaa karaa aduun seentuutitti, gosi Ruubenii qooda tokko hin qabaata.

⁷ Meessaa Ruubeniititti aanee, meessaa karaa aduun baatuutii jalqabee haga meessaa karaa aduun seentuutitti, gosi Yihuda'aa qooda tokko hin qabaata.

Wodhakkaa Lafaatitti Kutaa Addaa

⁸ «Lafa Meessaa Yihuda'aatitti aantee, meessaa karaa aduun baatuu jalqaddee haga meessaa karaa aduun seentuutitti jirtu, qooda ati kennansa addaa gootee dhikeessitu teetuu ti; latti tun badhinna isi'ii ciqilee kuma diddamii shan, dheerinni isi'ii karaa aduun baatuu jalqaddee haga karaa aduun seentuutitti qooda gosa tokkoo waliin wol qixxee teetuu ti. Galmi Waaqaa wodhakkaa lafa saniititti ijaarratuu ti.

⁹ «Latti isin qooda addaa gootanee Mootii Waan Maraatiif kennitanu dheerinni isi'ii ciqilee kuma kudhan*, badhinna isi'ii ciqilee kuma diddama te'uu ti.

¹⁰ Tun qooda woyyittii hayyootaa teetuu ti; karaa kaabaatiin dheerinni isaa ciqilee kuma diddamii shan, badhinna isaa karaa aduun seentuun ciqilee kuma kudhan, karaa aduun baatuun ciqilee kuma kudhan, karaa kibbaatiin dheerinni isaa ciqilee kuma diddamii shan te'ee, Galmi Waaqaa wodhakkaa isaatitti hin te'a.

¹¹ Kun hayyoota sanyii Zaadoqqii keessaa worra woyyoota yennaa kolbaan Israa'elii karaa irraa gorte Lewwoota worra kaan waliin adoo karaa irraa hin gorin waan ani isaan ajaje eegataneef te'uu ti.

¹² Tun qooda lafa woyyitti'ii keessaa, Addee Irra Caalaa Woyyittii, isaaniif kennansa addaa teetee, ta meessaa Lewwootaatitti aantee jirtu.

¹³ Karaa meessaa hayyootaatiin, Lewwooti qooda lafaa ta dheerinni isi'ii ciqilee kuma diddamii shanii, badhinna isi'ii ciqilee kuma kudhan teete hin qabaatti; wolumatti dheerinni isi'ii ciqilee kuma diddamii shan, badhinna isi'ii ciqilee kuma kudhan hin teeti.

¹⁴ Isaan lafa tana irraa gurgurruu yookiin jijjiiruu hin qabanu; latti tun lafa mara keessaa irra caalaa dansaa ta teete; Mootii Waan Maraatiif ta woyyoonte waan teeteef, harka nama dhibi'ititti dabarfantee hin kennantu.

¹⁵ «Lafa woyyittii tana irraa qoodantee ta hatte ta dheerinni isi'ii ciqilee kuma diddamii shanii, ta badhinna isi'ii ciqilee kuma shanii ta wolumatti kolbaan itti fayyadantu, manaa fi kaloo hori'itiif hin teeti. Wodhakkaa isi'ititti qachaan hin te'a;

¹⁶ mikiin roga cinaa qachaa sanii arfanuu wol qixxee te'ee, karaa kaabaatiin ciqilee kuma afurii fi dhibba shan, karaa kibbaatiin ciqilee kuma afurii fi dhibba shan, karaa aduun baatuun ciqilee kuma afurii fi dhibba shan hin teeti.

¹⁷ Latti qacha'aa sun lafa horiin dheedu hin qabaatti: karaa kaabaatiin ciqilee dhibba lamaa fi shantama, karaa kibbaatiin ciqilee dhibba lamaa fi shantama, karaa aduun baatuun ciqilee dhibba lamaa fi shantama, karaa aduun seentulle'een ciqilee dhibba lamaa fi shantama hin teeti.

* **48:9** *Ciqilee kuma kudhan:* Hiikkaan gariin ciqilee kuma diddama jedha

¹⁸ Latti irraa hatte ta addee woyyitti'itti aante, karaa aduun baatuun ciqilee kuma kudhan, karaa aduun seentuun ciqilee kuma kudhan hin teeti; midhaan lafa sanii hojjattoota qacha'aatiif sagalee hin te'a.

¹⁹ Hojjattooti qachaa sanii ka gosa Israa'elii mara keessaa dhufane lafa san hin qotatan.

²⁰ Guutumatti latti isin gooda addaa gootane kennitane gooda qacha'aaf kenname dabalattee wolumatti cinaan roga isi'ii arfanuu ciqilee kuma diddamii shan hin teeti.

²¹ «Lafa gooda woyyicha teete sanii fi lafa addee qacha'aa teete san bitta'aa fi middatti latti hatteertu ta qondaalaa teetuu ti. Tunille lafa gooda woyyicha teete ciqilee kuma diddamii shan irraa ka'ee karaa aduun baatu haga meessaa karaa aduun baatuu, lafa gooda woyyicha teete ciqilee kuma diddamii shan irraa ka'ee karaa aduun seentu haga meessaa karaa aduun seentuu ti. Latti lafa gooda gosa Israa'elii cinaa lamaaniin wol qixxee dheerattu ta qondaalaa hin teeti. Akka kanaan addeen woyyitti'ii fi Galmi Waaqaa wodhakkaa lafa sanii hin te'an.

²² Tanaaf latti gooda Lewwootaatii fi latti gooda qacha'aa lafa gooda qondaalaaf kenname san wodhakkaa hin teeti. Latti qondaalaalle lafa Yihuda'aatii fi lafa Beniyaamii wodhakkaa hin teeti.

Lafa Gosa Worra Hafeef Qoqoodante

²³ «Qoodi gosa worra hafee ka asii gad jiru: gosi Beniyaaminii meessaa karaa aduun baatuutii haga meessaa karaa aduun seentuu gooda tokko hin qabaata.

²⁴ Lafa gooda Beniyaaminiititti aanee meessaa karaa aduun baatuutii haga meessaa karaa aduun seentuutitti gosi Shimi'oonii gooda tokko hin qabaata.

²⁵ Lafa gooda Shimi'ooniititti aanee meessaa karaa aduun baatuutii haga meessaa karaa aduun seentuutitti gosi Yisaakorii gooda tokko hin qabaata.

²⁶ Lafa gooda Yisaakoriititti aanee meessaa karaa aduun baatuutii haga meessaa karaa aduun seentuutitti gosi Zebuloonii gooda tokko hin qabaata.

²⁷ Lafa gooda Zebulooniititti aanee meessaa karaa aduun baatuutii haga meessaa karaa aduun seentuutitti gosi Gaadii gooda tokko hin qabaata.

²⁸ «Lafa gooda Gaadiititti aanee meessaa karaa kibbaatiin, qachaa Taa-maariitii ka'ee haga bisaan Mariibaa-Qaadeshii hin dhaqa; achille'ee laga gogaa† Gibxi'ii gula deemaa haga abbaayaa Mediteraaniya'aa dhaqa.

²⁹ Latti isin dhaala gootanee hixaa buusiisaan gosa Israa'eliitiif qooddanu isii tana» jedha Gootaan Mootiin Waan Maraa.

Karra Qachaa Yerusaalemii

³⁰ «Karri qachaa keessaa ittiin gad bayanu ka asii gad jiran: Maddiin karaa kaabaa ciqilee kuma afurii fi dhibba shan te'ee,

³¹ karri qachootaa maqaa gosa Israa'eliitiin waamaman; karri sadiin kaabaa karra Ruubenii, karra Yihuda'aatii fi karra lewwi'ii ti.

³² Maddiin karaa aduun baatuu ciqilee kuma afurii fi dhibba shan te'ee, karri isaa sadiin karra Yoseefii, karra Beniyaamiitii fi karra Daanii ti.

³³ Maddiin karaa kibbaa ciqilee kuma afurii fi dhibba shan te'ee, karri isaa sadiin karra Shimi'oonii, karra Yisaakoriitii fi karra Zebuloonii ti.

³⁴ Maddiin karaa aduun seentuu ciqilee kuma afurii fi dhibba shan te'ee, karri isaa sadiin karra Gaadii, karra Asheeriitii fi karra Niftaalemii ti.

† 48:28 Laga gogaa: Yookiin lafa dareera.

³⁵ Naannoon qacha'aa ciqilee kuma kudhanii saddeeti. Yennaa sanii jalqabee maqaan qacha'aa «Mootiin Waan Maraa achi jira» hin jedhama» jedhe.

Kitaaba Daani'elii Raagichaa Seensa

Kitaab Daani'elii Raagichaa bara Yihudooti bulchaa mooticha worra Yihudoota hin te'inii jalatti yennaa ariisa'aa fi miidha'aan guddoo rakkatiisatti jiranu barreeffame. Barreessaan dabarsi'ii fi waan mudhi'iin dhaggameen, akka Waaqi bulchaa isaan cunqursu balleessee, baallii kolbaa ifii adde'etti deebisu kolbaa yennaa sanii addi'iin jajjabeessa.

Kitaabichi kutaa gugurdoo lama qaba (1) Daani'el fi worri diqqaan isa woliin booji'ameeru, dhugeeffannaa jadduu Waaqa irratti qabanuu fi ajajamiisa isaaf qabanuun diinni isaanii akka fokkifate dabarsii dubbattu; dabarsiin tun bara mootummaa mootii mootota Baabiloniitii fi Faaresii muummeffante. (2) Mudhiin Daani'el dhagge ta adda addaa yoo teetu, isaanille mootummaa mootii moototaa ta Baabilonii irraa jalqabee mootummaan mootii moototaa ta adda addaa kakka'aa akka jiganuu fi bulchaan ka Yihudootaa hin te'in balleeffamee, kolbaan Waaqaa addee duriititti akka deebitu fakki'iin ka mudhatane.

Haadhoo Dubbi'ii

Daani'elii fi Jaalota isaa1:1-21

Oojjuu Mooticha Nebukadnezaarii2:1-49

Waaqi Sidiraaqi, Misaaqii fi Abidnaagoo ibidda bobe'u keessatti eege3:1-30

Nebukadnezaar woggaa torbaaf mootummaa ifii dhabe4:1-37

Mooticha Belshaazaarii fi barreeffama dhaaba manaa irraa5:1-31

Waaqi afaan neenqaa keessaa Daani'el hambure6:1-28

Daani'el bineensota afur mudhi'iin dhagge7:1-28

Mudhii Daani'el dhagge ta korbeessa hoole'eetii fi re'e'ee 8:1-27

Daani'el kolba'aaf daadimate9:1-27

Ergamaa Waaqaa ka Daani'el laga Xeegrosii biratti dhagge10:1–11:45

Marroo bara muumme'ee12:1-13

Dabarsii Daani'eliitii Fi Jaalota Isaa

¹Yehoyaaqiim biyya Yihuda'aa irratti mootii te'ee, woggaa sadeesso'ootitti, mootiin biyya Baabilonii Nebukadnezaar dhufee qachaa Yerusaaleemii marse.

²Gootaan biyya Yihuda'aa Yehoyaaqiimii fi meya Galma Waaqaa keessaa gamisa harka Nebukadnezaariititti dabarsee kenne; Nebukadnezaarille worra booji'e gara biyya ifii ta «Shiinaar» jedhantuu geessee, meya Galma Waaqaa keessaa booji'elle mana waaqota ifii ka Baabilon keessa jiru keessa keye.

³Achiin duuba mootichi Nebukadnezaar worra Israa'elootaa ka booji'ame keessaa maatii moototaatii fi qondaaltotaa keessaa dargaggoota dhiiraa garii filee akka fiduuf bulchaa guneessota ifii Ashfenaaz ajaje;

⁴dargaggooti filamanu kun worra nafa ifii irratti fafa hin qanne, worra dadansaa, worra ogummaa mara qalbeeffatu, worra qaroo, worra hubatiisaaf ariifatu, mana mootumma'aa keessa tajaajiliisaaf worra dandeettii qabu te'uu qaban; afaan worra Baabilonii dubbisiisaa fi barreessiisa akka isaan barsiisuufille Ashfenaaz ajaje.

⁵Mootichi Nebukadnezaar guyyuma guyya'aan sagalee ifiif nyaatu irraa, daadhii woyni'ii ta ifiif unu irraa isaaniifille akka kennamu ajaje; isaan woggaa sadiif leenjifamaneen duuba, mooticha tajaajiliisaaf seenan.

⁶ Worra gosa Yihuda'aa keessaa worri filatame Daani'el, Hanaaniyaa, Miishaa'elii fi Azaariya'a.

⁷ Bulchaan qondaaltota mootichaa maqaa isaanii jijjiiree, Daani'eliin «Belxishaazaar», Hanaaniya'aan «Shaadraak», Mishaa'eliin «Meshaak», Azaariya'aan «Abedneegoo» jedhee moggaase.

⁸ Daani'el sagalee mootichaa nyaatiisaan, daadhii woyni'ii isaalle uniisaan akka ifi hin batteessine murteeffate; maarre akka ifi hin batteessineef, yaada kana akka isaaf eeyyamuuf Ashefenaaz gaafate.

⁹ Waaqi akka Daani'el qondaalticha duratti fudhatama dhaggatuu fi akka inni gadhaa isaaf laafu godhe.

¹⁰ Te'uu male bulchaan qondaaltotaa mooticha waan sodaateef, Daani'eliin, «Ani mooticha gootaa kiyya ka sagale'ee fi daadhii woyni'ii isiniif ajaje hin sodaadha; isin dargaggoota dhibi'iin caalaa yoo huqqatanee daalachootane mootichi na hin ijjeesa» jedhe.

¹¹ Achiin duuba Daani'el gara namicha Ashefenaaz eedduu Daani'elii, Hanaaniya'aa, Miishaa'eliitii fi Azaariya'aa godhe sanii dhaqee,

¹² «Maganne'ee, akka nyaannuuf waan ficha'atti dhaabamuu* fi bisaan unnu callaa guyyaa kudhaniif nuu kenniitii, nu tajaajiltoota teeti waan teenu ilaal.

¹³ Achiin duuba bifa keennaa fi bifa dargaggoota sagalee mootichaa nyaatanuu wol bira qabiitii ilaal; waan dhaggiteen nu tajaajiltoota teeti waan feete godhi» jedhe.

¹⁴ Maarre innille yaada kana isaaniin wolii galee guyyaa kudhaniif waan isaan te'anu ilaale.

¹⁵ Guyyaa kudhaniin duuba bifi isaaniitiif gabbinni nafa isaanii, dargaggoota sagalee mootichaa nyaatanu caalee dhaggame.

¹⁶ Maarre namichi isaan eegu sun, guyyaa saniin jalqabee, sagalee dansa'aa fi daadhii woyni'ii akka unanuuf ta mana mootumma'aa irraa isaaniif kennantu dhooggee, waan ficha'atti dhaabamu callaa isaaniif kenne.

¹⁷ Waaqi dargaggoota arfan tanaaf beekkumsa, dandeettii barreessiisa maraatiif fi qarummaa isaaniif kenne; Daani'el ammoo mudhi'ii fi oojjuu mara hiikiisaafille dandeettii qabaayyu.

¹⁸ Barri akka isaan dhikaatanuuf mootichi murteesse geennaan, bulchaan qondaaltotaa Nebukadnezaar dura isaan dhikeesse.

¹⁹ Mootichille yennaa isaan mara dubbise, isaan mara keessaa ka akka Daani'elii, Hanaaniya'aa, Miishaa'eliitii fi Azaariya'aa hin dhagganne; tanaaf isaan akka mooticha tajaajilanuuf filamane.

²⁰ Marroo qarumma'aatii fi hubanti'ii mara waan ilaalu, mootichi yennaa isaan gaafate, worra xanu fi worra moru ka mootummaa isaa keessatti dhaggamanu mara keessaa dachaa kudhan caalanee dhagge.

²¹ Qiros mootii te'ee haga woggaa tokkeesso'ootitti Daani'el achuma mana mootumma'aa keessa tajaajilaa ture.

2

Oojjuu Nebukadnezaarii

¹ Nebukadnezaar mootii te'ee, woggaa lammeesso'ootitti oojjuu guddoo isa rakkittee hirriiba dhooggitu oojjate.

² Maarre oojjuu inni oojjate akka isaaf hiikanuuf worra xanu, worra moru, worra falfaluu fi worra Kaldootaa ka urjii ilaalee waan gara duraa te'u himu,

* **1:12** Waan ficha'atti dhaabamu: Kudura'aa fi muduraa jechuu isaa ti.

gara isaa akka waamamanu ajaje; isaanille dhufanee mooticha dura yennaa dhaabbatane,

³ inni isaaniin, «Ani oojjuu oojjadhee, hiikkaan oojjuu tanaa beekiisaaf guddoo rakkadheera» jedhe.

⁴ Achiin duuba isaan afaan Aaramiitiin mootichaan, «Ee mooticha, haga bara baraa le'i! Oojjuu teeti nu tajaajiltoota teetitti himi; nuutille hiikkaa isi'ii sitti hin beessinna» jedhane.

⁵ Mootichille deebisee isaaniin, «Isin oojjuu tiyyaa fi hiikkaa isi'ii yoo natti hin himin, harki fi miilli keessan akka isin irraa ciraamu, manni keessanille diigamee tuulaa kosi'ii akka te'u jabeessee murteeffadheera.

⁶ Oojjuu tiyyaa fi hiikkaa isi'ii yoo natti beessittane ammoo kennansaa fi badhaasa, ulfinna guddaalle na irraa hin fudhattan; tanaaf oojjuu tiyya hiikkaa isi'ii woliinuu natti hima'a» jedhe.

⁷ Isaan ammalle, «Mooticha keenna, oojjuu teeti nu tajaajiltoota teetitti himi; nuutille hiikkaa isi'ii sitti hin beessinna» jedhanee deebisane.

⁸ Mootichi deebisee, «Ani jabeessee akka murteeffadhe waan beettanuuf, yennaa dheerefatiisaaf akka wodhaaniisatti jirtanu hubadheera;

⁹ isin oojjuu tiyya yoo natti hin himin, adabbii gosa tokkootitti isin mara eegata; isin haalli waan jijjiiramuu seetane, dubbii sobaatii fi dokonkorsitu natti himiisaaf wolii galtane; tanaaf oojjuu tiyya natti hima'a; anille hiikkaa isi'ii akka isin dandeettanu tanaan beeka» jedhe.

¹⁰ Isaanille deebisane, «Biyya lafaa tana keessa waan mootichi gaafate deebisuu ka dande'u tokkolle hin jiru; tanaan qaralle mootiin akka fedhe gudda'aa fi hunnaamessa te'ulle waan akka kanaa worra moru, worra xanu, worra falfaluu fi worra waan dhossa'aa himu gaafatee hin beeku.

¹¹ Wonni mootichi gaafatu sun guddoo rakkisa'a; waaqota odduu namaa hin leene malee, eennulle gaaffii san mootichaaf beessisuu hin dande'u» jedhane.

¹² Dubbiin tun waan mooticha aarsitee bobeessiteef, inni qarooleen biyya Baabilonii marti akka ijjeefamanu ajaje.

¹³ Maarre qarooleen akka ijjeefamanuuf ajaji baanaan, Daani'elii fi jaalota isaa ijjeesiisaaf barbaadane.

Waaqi Hiikkaa Oojju'uu Daani'elitti Hime

¹⁴ Achiin duuba ajajaan eeddota mootichaa Ariiyok, qaroolee biyya Baabilonii ijjeesiisaaf yennaa dhufe, Daani'el qarumma'aa fi malaan isa dubbisee,

¹⁵ Ariiyokii ajajaa eeddota mootichaa saniin, «Mootichi ajaja jabaa kana maaf baase?» jedhee gaafate; Ariiyokille dubbii san Daani'elitti beessise.

¹⁶ Maarre Daani'el gara mootichaa ol seenee, oojjuu isaa hiikiisaaf akka mootichi yennaa isaaf kennu gaafate.

¹⁷ Achiin duuba Daani'el gara mana ifii deebi'ee, dubbii san jaalota ifii Hanaaniyaa, Miishaa'elii fi Azaariya'atti beessisee,

¹⁸ marroo dhossaa dubbii tanaatiifille, innii fi jaaloti isaa qaroolee biyya Baabilonii woliin akka hin banneef, Waaqa ol-gubba'aa irraa marartii akka gaafatanu itti hime.

¹⁹ Halkan keessa dubbiin dhossa'aa sun mudhi'iin Daani'elitti mudhatte; achiin duuba Daani'eli Waaqa ol-gubba'aa leellifatee,

²⁰ «Qarumma'aa fi hunni ta isaa waan teeteef,
maqaan Waaqaa haga bara baraa leellifamuu ti!

²¹ Inni yenna'aa fi bara hin jijjiira;
mootota mootummaa irraa hin buusa;

- hin mootonsalle'e;
 worra qaroolle'eef qarummaa,
 worra hubatuuf beekkumsa ka kennu isa.
- 22 Inni waan qilee keessaatii fi
 waan dhokateeru hin mudhisa;
 inni waan dukkana keessa jiru hin beeka;
 ifille isa woliin le'a.
- 23 Ee Waaqa abbootii tiyyaa,
 ati qarumma'aa fi hunna
 waan naaf kenniteef,
 waan nuuti si gaafannelle
 waan natti beessitteef,
 waan mootichi beekiisaaf rakkatelle
 natti waan beessitteef,
 ani si galateeffadha; si leellifadhalle'e» jedhe.

Daani'el Oojjuu Hiike

24 Achiin duuba Daani'el gara Ariiyokii ka mootichi qaroollee Baabylon akka balleessuuf ajajee dhagee, «Qaroollee Baabylonii hin balleessin; gara mootichaa na geessi; anille mootichaaf oojjuu isaa hin hiika» jedhe.

25 Yennuma san Ariiyok ariifatee Daani'el gara mootichaa geessee, «Ani namoota biyya Yihuda'aa irra booji'amane oddu'uu nama hiikkaa oojjuu teetii si'iif himuu dande'u dhaggeera» jedhe.

26 Mootichi Daani'elii «Belxishaazaar» jedhamee moggaafameen, «Ati oojjuu ani oojjadhee fi hiikkaa isi'ii natti himuu dandeettaa?» jedhe.

27 Daani'elille deebisee, «Dhossaa ati mootichi gaafatte tana, qaroolleen, worri moru, worri xanu fi worri Kaldootaa ka urjii ilaalee waan gara duraa moru, dande'ee si'itti hin himu;

28 ammoo ka waan dhossa'aa mudhisu Waaqi tokkochi ol-gubbaa jira; inni waan gara duraa te'uuf jiru si mooticha Nebukadnezaaritti mudhiseera; taqee irra irkattee oojjuu ati oojjatee fi mudhii ati dhaggite ta asii gadi jirtu:

29 «Ee mooticha, ati taqee teeti irra adoo irkatteertuu waan gara duraa te'uuf jiru yaaddeeyyu; tanaaf Waaqi waan dhossa'aa mudhisu waan gara duraa te'uu jiru si'itti mudhise.

30 Wonni mudhiin tun natti mudhateef, waan ani nama duudii caalaa qarummaa qabadheef moti; ammoo hiikkaa oojjuu sanii akka ati beettuu fi yaadaa qalbii teetitti itti rakkate san, akka hubatuuf natti mudhatte.

31 «Ee mooticha, ati oojju'uun fakkii guddoo calalaxxu'uu fi sodaachittu takka si dura dhaabbatteertuun dhaggite;

32 mataan fakkii sanii worqii qulluu irraa, qomii fi harki isi'ii lamaanuu meetii irraa, gadha'aa fi gudeedi isi'ii sageettuu irraa,

33 sarbaan isi'ii sibiila irraa, miila isi'ii gar tokko sibiila irraa, gar kuun faara irraa hujameeraayyu.

34 Adoo ati fakkii san ilaaliisatti jirtuu, adoo harki namaa hin tuqin dhakaan guddaan fottoqee, miila fakkii sibiilaa fi faara irraa hujantetti bu'ee caccasse.

35 Yennuma san sibiilli, faarri, sageettuun, meeti'ii fi worqiin bututaneen, akka hicaacee bonaa ta eeddummee keessaa te'ane; waan tokkolle adoo hin hamburin qilleensi isaan haxowee balleesse; dhakaan fottoqee fakki'itti bu'e sun ammoo, gaara guddaa te'ee lafa duudii guute.

36 «Oojjuun ati oojjatte tana; hiikkaan isi'iille ta asii gadii jirtu:

37 Ee mooticha, ati mootii moototaa ti; Waaqi ol-gubba'aa mootummaa, hunna, jabeennaa fi ulfinna si'iif kenneera;

³⁸ inni ilmaan namaa, horii, bineensotaa fi sinbirroota addee isaan jiranu maratti isaan mara irratti bulchaa si godheera. Tanaaf mataan fakki'ii ka worqi'ii sun si'i.

³⁹ Si'iin duuba mootummaan mootummaa teetii gadii hin kaati; itti aantee mootummaan sageettu'uun fakkeeffantu ta sadeesso'oo ta lafa duudii bulchitu hin kaati.

⁴⁰ Dhuma irratti mootummaan arfeesso'oo ta akka sibiilaa jabaattu, ta waan mara caccassituu fi butuchitu hin kaati; akkuma sibiilli waan mara caccassee butuchu, mootummaan tun moototaa isi'iin qaraa mara caccasitee hin butuchiti.

⁴¹ Akkuma oojjuu teetiin fakkii miilli isi'ii gar tokkoo fi qubi miila isi'ii gar tokko sibiila irraa, gar kuun ammoo faara irraa hujanteertuun dhaggite, mootummaan sun ta qoqoodante hin teeti; sibiilli faara woliin makameeruun akkuma dhaggite, mootummaan sun gar tokko akka sibiilaa hin jabaatti.

⁴² Akkuma qubi miila isi'ii gari tokko sibiila, gari kuun faara te'e, mootummaan sun gari tokko jadduu, gar kuun dadhadduu hin teeti.

⁴³ Sibiillii fi faarri makameeruun akkuma dhaggite, kolbaan mootummaa lamaan saniille fuudhaa fi heerumaan wolitti hin makanti; te'uu malee akkuma sibiilli faaraan wolitti makamee woli hin qabanne, isaanille tokkummaa'an hin le'anuu.

⁴⁴ Bara mootota saniititti Waaqi ol-gubba'aa mootummaa ijumaa hin bannee fi ta kolbaa dhibi'iif hin kennanne hin ijaara; isiin mootummoota san duudii ijumaa hin butuchiti; isiin ammoo haga bara baraa jabaattee dhaabbatti.

⁴⁵ Mootummaan tun ta akkuma ati dhakaa harki namaa adoo hin tuqin gaara irraa fottoqee fakkii sibiilaan, sageettu'uun, faaraan, meeti'ii fi worqi'iin hujante caccassee butuche, oojju'uun dhaggitee ti. Waaqi guddaan waan gara duraa te'uu jiru si mootichatti mudhiseera; oojjuun sun dhuga'a; hiikkaan isi'iille ta addatante» jedhe.

Mootichi Daani'el Badhaase

⁴⁶ Achiin duuba mootichi Nebukadnezaar fuulaan lafatti gad gombifamee, Daani'eliif sagade; kennansa midhaaniitii fi hixaanaa akka isaaf dhikeessanuufille ajaje.

⁴⁷ Mootichi Daani'eliin, «Eega ati dhossaa tana mudhisuu dandette, dhugumaan Waaqi keessan waaqota irratti Waaqa; mootota irratti Gootta'a; waan dhossa'aa duudiille ka mudhisu» jedhe.

⁴⁸ Achiin duuba mootichi Daani'eliif, kennansa gugurdaa hedduu kennee, kutaa biyya Baabilonii duudii irratti bulchaa isa godhe; worra qaroolee Baabilonii irralle'etti itti gaafatamaa isa godhe.

⁴⁹ Gaaffii Daani'eliitiin mootichi Shaadraak, Meshaakii fi Abed-neegoo biyya mootummaa Baabilonii duudii irratti bulchoota isaan godhe; Daani'el ammoo mana mootummaa'aa keessatti hafe.

3

Nabukadnezaar Akka Nami Duudiin Fakkii Worqi'ii Waaqonfatu Ajaje

¹ Mootichi Nabukadnezaar fakkii worqi'ii ta hojjaan isi'ii ciqilee jaatamaatii fi badhinni isi'ii ciqilee jaa hujisiisee, kutaa biyya Baabilonii keessaa dirree afaan isaaniitiin, «Duraa» jedhantu keessa dhaabe.

² Achiin duuba mootichi Nebukadnezaar sooressitooti kutaa biyyaa, itti aantoti sooressitoota kutaa biyyaa, bulchitooti, gorsitooti, worri beesee qabatu, abbootiin mura'aa, abbootiin seeraatii fi qondaaltoti kutaa biyyaa

keessa jirtu duudiin eebba fakkii inni dhaabee irratti akka dhaggamanuuf waansise.

³ Maarre sooressitooti kutaa biyyaa, itti aantoti sooressitoota kutaa biyyaa, gorsitooti, worri beesee qabatu, abbootiin mura'aa, abbootiin seeraatii fi qondaaltoti kutaa biyyaa keessa jirtu duudiin, eebba fakkii mootichi Nabukadnezaar dhaabeef wolitti qabamanee fakkii san dura dhaabbatane.

⁴ Achiin duuba nami lassii lassu qoonqoo guddo'oon, «Ee kolbaa heddu'u, gosi biyya adda addaatii fi kolbaan afaan adda addaa dubbattanu duudiin dhage'a'a!

⁵ Yennaa qoonqoo tultulla'aa, ta meya akka suusulle'ee, maseenqo'oo, kiraaraa, kiraara guddichaa, suusulle'eetii fi sirba duudi'ii dhageettanu, fakkii worqi'ii ta mootichi Nebukadnezaar dhaabeef gad jiga'aatii sagada'a.

⁶ Nami gad jigee hin saganne yennuma san barbada bob'e'a ibiddaa keessa darbama» jedhe.

⁷ Tanaaf isaan duudiin qoonqoo tultulla'aa, ta meya akka suusulle'ee, maseenqo'oo, kiraaraa, kiraara guddichaa, suusulle'eetii fi sirba duudi'ii akkuma dhage'aneen, kolbaan duudiin, gosi biyya adda addaatii fi kolbaan afaan adda addaa dubbattu, fakkii worqi'ii ta mootichi Nebukadnezaar dhaabeef gad jigane sagadane.

Jaaloti Daani'elii Sadiin Himatamane

⁸ Yennaa san worri Kaldootaa ka urjii ilaalee waan gara duraa te'u himu, gara mootichaa dhikaatee, Yihudoota himate.

⁹ Isaan mooticha Nebukadnezaariin, «Ee mooticha, haga bara baraa le'i!

¹⁰ Ee mooticha, ati «Nami duudiin qoonqoo tultulla'aa, ta meya akka suusulle'ee, maseenqo'oo, kiraaraa, kiraara guddichaa, suusulle'eetii fi sirba duudi'ii yennaa dhage'u fakkii worqi'iitiif jigee sagaduu ti;

¹¹ eenulle nami jigee hin sagadin bob'e'a ibiddaa keessa darbamuu ti» jettee ajaja baatteerta.

¹² Worri Yihudootaa ka ati kutaa biyya Baabilonii akka bulchanuuf muudde, Shaadraak, Meshak fi Abed-neegoon, ajaja keeti hin muummese-sanu; isaan waaqota keeti hin tajaajilanu, hin waaqonfatanulle'e» jedhane.

¹³ Mootichi Nebukadnezaar yennaa tana dhage'e guddoo aaree, Shaadraak, Meshakii fi Abed-neegoo gara isaa akka fidanu ajaje; isaanille mooticha duratti isaan dhikeessane.

¹⁴ Nebukadnezaar isaaniin, «Shaadraak, Meshakii fi Abed-neego'o! Isin dhugumaan waaqota kiyya hin tajaajiltanuu? Fakkii worqi'ii ta ani dhaabelle hin waaqonfattanuu?

¹⁵ Ammaa qoonqoo tultulla'aa, ta meya akka suusulle'ee, maseenqo'oo, kiraaraa, kiraara guddichaa, suusulle'eetii fi sirba duudi'ii yennaa dhageettanu, fakkii worqi'ii ta ani dhaabeef sagaddanee yoo waaqonfattane guddoo dansa'a. Yoo isi'iif sagaduu dhaddane ammoo, yennuma san barbada bob'e'a ibiddaa keessa hin darbatantan; waaqi harka kiyya keessaa isin baasu dande'u eennu?» jedhe.

¹⁶ Shaadraak, Meshakii fi Abed-neegoon mootichaan, «Ee Nebukadnezaar, waan kana irratti nuuti deebii falmataa siif kennuu hin barbaachisu.

¹⁷ Ee mooticha, nuuti bob'e'a ibiddaa keessatti yoo darbatanelle, Waaqi nuuti tajaajillu nu baasuu hin dande'a; harka keeti keessalle'ee nu hin baasa.

¹⁸ Yoo nu baasuu dhabelle, nuuti waaqota keeti akka hin tajaajille, fakkii worqi'ii ta dhaaddelle akka hin waaqonfanne beeki» jedhane.

Jaaloti Daani'elii Sadiin Bob'e'a Ibiddaatitti Darbatamane

¹⁹ Achiin duuba Nebukadnezaar guddoo aaree, fuulli isaalle Shaadraak, Meshaakii fi Abed-neego'otti jijjiirame; inni bobe'a ibiddaa ka dur gabbatu caalaa dachaa torba akka gabbisanu ajaje.

²⁰ Inni loltoota ifii keessaa worri jajjabi Shaadraak, Meshaakii fi Abed-neegoo hidhane, bobe'a ibiddaatitti akka darbanuuf ajaje.

²¹ Maarre namooti sadiin sun akkuma uffatanee jiranuun woyaa isaanii, lukee isaanii, marata mata'aa waliin hidhamanee, bobe'a ibiddaatitti darbanane.

²² Ajaji mootichaa jabaa waan te'eef, ibiddi akka malee gabbatiisatti waan jiruuf, bobeenni ibiddaa worra Shaadraak, Meshaakii fi Abed-neegoo geessee ibiddatti darbe gubee ijjeese.

²³ Shaadraak, Meshaakii fi Abed-neegoon isaan sadiinuu akkuma hidhamanee jiranuun bobe'a ibiddaa san keessatti jigane.

²⁴ Achiin duuba mootichi Nebukadnezaar maadeffatee ariifatee ol ka'ee, «Namooti nuuti hiinee ibidda keessa darbine sadii motii?» jedhee gorsitoota ifii gaafate.

Isaanille deebisane mootichaan, «Eeti'i» jedhane.

²⁵ Innille deebisee, «Ani ammoo kunoo, namooti afur hiikamanee, adoo hin miidhamin ibidda keessa deddeemanuun dhagga; ka arfeesso'oolle ilma waaqotaa fakkaata» jedhe.

Namooti Sadiin Ibidda Keessaa Bayanee Bulchitoota Te'ane

²⁶ Nebukadnezaar gara balbala bobe'a ibiddaa dhikaatee, «Isin tajaajiltoota Waaqa ol-aana'aa Shaadraak! Meshaak! Abed-neego'o! Kowa'a as baya'a!» jedhe. Isaanille ibidda keessaa bayane.

²⁷ Sooressitooti kutaa biyyaa, itti aantoti sooressitoota kutaa biyyaa, bulchitootii fi gorsitooti mana mootumma'aa adaala isaaniititti wolitti qabamanee, ibiddi nafa namoota sanii akka hin miidhin, rifeensi mataa isaanii akka hin gubatin, woyaan isaanii akka hin gubatinii fi fooleen ibiddaatuu akka isaan irraa hin dhowin dhaggane.

²⁸ Achiin duuba Nebukadnezaar, «Waaqi Shaadraakii, Meshaakiitii fi Abed-neego'oo ka ergamaa ifii ergee, tajaajiltoota ifii ta isatti addattu ka baase eebbifamuu ti. Isaan Waaqa ifiititti addatanee, ajaja mootichaa didanee, Waaqa ifii malee, waaqota dhibii tajaajiliisa yookiin waaqonfatiisaan irra, nafi isaanii akka gubatuuf dabarsanee kennane.

²⁹ «Tanaaf akka kana ka baasuu dande'u waaqi dhibiin waan hin jirreef, kolbaan, gosi duudi'ii fi kolbaan afaan adda addaa dubbattu duudiin, ta Waaqa Shaadraakii, Meshaakiitii fi Abed-neego'oo faanshessitu, harkii fi miilli isaanii cicciramee, manni isaanii diigamee tuulaa kosi'ii akka te'uuf, ani ajaja baaseera» jedhe.

³⁰ Achiin duuba Mootichi Shaadraak, Meshaakii fi Abed-neegoo kutaa biyya Baabilonii irratti bulchitoota godhe.

4

Oojjuu Nebukadnezaarii Ta Lammeesso'oo

¹ Mootichi Nebukadnezaar gara kolbaa heddu'uu, gosa biyya adda addaati fi kolbaa afaan adda addaa dubbattu ta biyya lafaa duudii keessa leetuu ergaa ergee:

«Nageenni isiniif te'u!

² Ani bilbaasaa fi maadee ka Waaqi Ol-Aanaan naaf huje isinitti himuu fedha.

³ «Bilbaasi isaa attam attam gudda'a!

Maadeen isaa attam attam jaddu'u!

Mootummaan isaa ta bara baraa ti;

inni dhalootaa haga dhalootaatitti bulcha.

⁴ «Ani Nebukadnezaar mana mootummaa tiyyaa keessa waan mara guu-tadhee, qananumma'aan le'aayyu.

⁵ Ani taqee irra adoo rafeeruu, oojjuu na sodaachittuu fi mudhii na bararassitu takka dhagge.

⁶ Tanaaf qarooleen Baabilonii duudiin gara kiyya dhufanee hiikkaa oojjuu akka natti himanu ajaje.

⁷ Yennaa worri xanu, worri moru, worri falfaluu fi worra Kaldootaa ka urjii ilaalee waan gara duraa te'u himu, gara kiyya dhufane ani oojjuu tiyya isaanitti hime; isaan ammoo hiikkaa isi'ii naaf himuu hin dandeenne.

⁸ Achiin duuba Daani'el ka waaqota kiyya keessaa akka tokkootitti «Belxishaazaar» jedhamee moggaafame, ol seenee na dura dhaabate; isa keessa ayyaana waaqota woyyootaatitti jira; tanaaf ani oojjuu tiyya isatti himee,

⁹ «Ee, Belxishaazaar sooreessa worra xanuu, ayyaanni waaqota woyyootaa si keessa akka jiru ani hin beeka; dhossaan takkaalle si hin rakkittu; kunoo oojjuu oojjadhe sitti hima naa hiiki.

¹⁰ «Adoo taqee tiyya irra rafeeruu muka guddaa dheeraa tokko, wodhakkaa lafaatitti mudhi'iin dhagge.

¹¹ Muki sun qacceed isaa haga ol-gubbaa geettutti guddatee jabaate; haga qaccee lafaa maralle'etti mudhate.

¹² Baalli isaa hin tola; midhaan isaalle hin bacata; kolbaa maralle'eef ka sagalee te'utti isa irra jira; bineensoti gaaddisa isaa jalatti boqatan; sinbirrooti dameelee isaa irratti mana ijaaratte; dadi lubbuu qaddu marti isaa irraa nyaatte.

¹³ «Adoo taqee tiyya irra rafeeruu mudhii dhaggeen, ergamaan Waaqaa woyyichi tokko ol-gubbaa irraa dhufuun dhagge;

¹⁴ innille qoonqoo guddoon, «Muka san mura'a jissa'a; dameelee isaa ciccira'a; baala isaa soxooxa'a; midhaan isaa bittinneessa'a; bineensoti isa jalaa, sinbirrooti dameelee isaa irraa baqatanuu ti.

¹⁵ Jirmaa fi hidda isaa ammoo, wodaroo sibiilaatii fi sageettu'uutiin hidha'aatii, marra bisilee diida keessaatitti lafa keessatti lakkisa'a.

«Inni fixeensa ol gubba'aatiin jiidhuu ti; bineensota woliin marra lafaa keessa le'uu ti.

¹⁶ Qalbiin isaa qalbii namaa irraa jijjiirantee, haga woggaa torbaatitti qalbii bineensotaatiin le'uu ti.

¹⁷ Murteen tana ergamaa woyyichatti murteesse; Waaqi Ol Aanaan mootummoota namootaa irratti mootii akka te'e, mootummoota sanille nama ifii jaalateef akka kennu, worra gad anaa isaan irratti bulchitoota akka godhu, kolbaan marti akka beettuuf tun teete» jedhee natti dubbate» jedheen.

¹⁸ «Oojjuun ani mootichi Nebukadnezaar oojjadhe tana; qarooleen mootummaa tiyya keessa jirtu marti, hiikkaa isi'ii natti himuu hin dandeenne; ati ammoo Belxishaazaar, ayyaanni waaqota woyyootaa si keessa waan jiruuf, hiikkaa isi'ii natti himuu hin dandeetta» jedheen.

Daani'el Ammalle Oojjuu Mootichaa Hiike

¹⁹ Achiin duuba Daani'el ka, «Belxishaazaar» jedhame, yennaa diqqo'oof guddoo rifatee afaan qabate; maarre mootichi, «Belxishaazaar, oojjuun yookiin hiikkaan isi'ii si hin rifachiisin» jedheen.

Belxishaazaar deebisee, «Ee gootaa kiyya, oojjuun sun worra si jibbuuf, hiikkaan isi'iille diinota keetiif teetuu ti.

²⁰ Muki ati mudhi'iin dhaggite, ka qacceen isaa haga ol-gubbaa geettutti guddatee, jabaatee, haga qaccee lafaa maralle'etti mudhatu,

²¹ ka baalli isaa tolu, ka midhaan isaa bacatee, kolbaa maralle'eef ka sagalee te'u, ka bineensoti gaaddisa isaa jalatti boqatanu, ka sinbirrootille dameelee isaa irratti mana ijaarrattu.

²² «Ee mooticha, muki guddatee jabaate sun si'i; guddinni keeti haga ol-gubbaa gewu guddateera; haga qaccee lafaatille'etti mootii teeteerta.

²³ Ee mooticha, ati ergamaan Waaqaa woyyichi tokko ol-gubbaa irraa dhu-fuun dhaggiteerta; inni, «Muka san mura'aa balleessa'a; jirmaa fi hidda isaa ammoo, wodaroo sibiilaatii fi sageettu'uutiin hidha'aatii, marra bisilee diida keessaatitti lafa keessatti lakkisa'a. Inni fixeensa ol gubba'aatiin jiidhuu ti; bineensota woliin marra lafaa keessa le'uu ti; haga woggaa torbaatitti bineensota woliin le'uu ti» jedhe.

²⁴ «Ee mooticha, kun ajaja Waaqi Ol Aanaan si mooticha gootaa kiyyatti dubbate; hiikkaan oojju'uulle ta asii gad jirtu.

²⁵ Ati kolbaa keessaa ari'antee, bineensota woliin hin leeta; akka hori'ii marra hin dheedda; fixeensa ol-gubba'aatiin hin jiita; Waaqi Ol Aanaan mootummoota namootaa irratti mootii akka te'e, mootummoota sanille nama ifii jaalateef akka kennu, haga beettutti woggaan torba hin dabarti.

²⁶ Akkuma jirmii fi hiddi muka sanii lafa keessatti hafuuf ajajame, Waaqi ol-gubbaa jiru, si'i irratti mootii akka te'e yennaa beette, mootummaan teeti adde'etti si'iif deebiti jechu'u.

²⁷ Tanaaf ee mooticha, gorsa kiyya fudhadhu. Cubbuu hujiisa lakkisiitii waan sirrii te'e huji; hantuu hujiisaa lakkisiitii worra gad qabameef marari; yoo tana goote barri ati nageyaan leetu siif hin dheerata» jedhe.

²⁸ Wonni kun duudiin mooticha Nebukadnezaar irratti muummotte.

²⁹ Ji'a kudhanii lamaan duuba gaafa tokko mootichi mana mana irratti ijaarrame gubbaa irra deddeebi'aa adoo jiruu,

³⁰ «Tun Baabilonii guddittii ta ani addee teessoo mootummaa tiyyaa akka teetuuf, ulfinna arnya kiyyaatiif, jabeenna hunna tiyyaatiin ijaaree motii ree?» jedhe.

³¹ Adoo mootichi dubbatiiisatti jiruu, qoonqoon ol-gubba'aa dhuttee, «Ee mooticha Nebukadnezaar, waan ani sitti himu dhage'i! Mootummaan teeti si irraa fudhatanteerti;

³² ati kolbaa keessaa ari'antee, bineensota woliin hin leeta; akka hori'ii marra hin dheedda; Waaqi Ol Aanaan mootummoota namootaa irratti mootii akka te'e, mootummoota sanille nama ifii jaalateef akka kennu, haga beettutti woggaan torba hin dabarti» jedhe.

³³ Yennuma san wonni Nebukadnezaar irratti dubbatante muummotte; inni kolbaa keessaa ari'amee akka hori'ii marra dheede; haga rifeensi isaa akka koola risa'aa dhedheeratutti, qenci isaalle akka qeenca allaatti'ii haga te'utti, nafi isaa fixeensa ol-gubba'aatiin jiidhe.

Nebukadnezaar Waaqa Leellifate

³⁴ «Barri sun yennaa muummowe, ani Nebukadnezaar gara ol-gubba'aa ilaale; qalbiin tiyyalle naa deebite; Waaqi Ol Aanaan ka haga bara baraa le'u haga bara baraa waan bulchuuf, mootummaan isaalle dhaloota irraa haga dhalootaa waan teeteef, ani isa eebbisee, leellifadhee, ulfinna isaaf kenne.

³⁵ Kolbaan lafa irra leetu duudiin, woyittuu hin laakkowantu; inni ergantoota ol-gubba'aatii fi

kolbaa lafa irra leetu duudii irratti
 waan fedhe hin godha;
 harka isaa hujii irraa ka dhooggu,
 yookiin waan inni huju ka isa gaafatu tokkolle hin jiru.

³⁶ «Akkuma qalbiin tiyya naaf deebiteen, ulfinna mootummaa tiyyaatiif arnyii fi guddinni tiyyaa naaf deebi'e; gorsitootii fi qondaaltoti tiyya gammadaan na fudhatte; ani gara barcumaa mootummaa tiyyaatitti deebi'ee, guddinni ka durii caalaa naaf dabalame.

³⁷ «Hujiiin Mooticha ol-gubba'aa sirrii, karaan isaa qajeelaa waan te'eef, worra kooraa ideemulle, waan gad deebisuuf, ani mootichi Nebukadnezaar isa hin leellifadha; ulfinnaa fi guddinnalle isaaf hin kenna» jedhe.

5

Barreeffama Dalleya Manaa

¹ Gaafa tokko mootichi Belshaazaar qondaaltota gugurdoo kuma tokkoof jila qopheesse; innille isaan woliin daadhii woyni'ii uniisatti jiraayyu.

² Belshaazaar daadhii woyni'ii adoo uniisatti jiruu, meya worqi'iitii fi meeti'ii ka abbaan isaa Nebukadnezaar galma Yerusaalemii keessaa baase innii fi qondaaltoti isaa, niitotii fi gursumeeyyiin isaa itti unanuuf akka fidanu ajaje.

³ Maarre worri ajajame meya worqi'iitii fi meeti'ii, ka Galma Waaqaa Yerusaalem keessa jiru keessaa baafame san fidanee, mootichi, qondaaltoti gugurdoon isaa, niitotii fi gursumeeyyiin isaa itti unane.

⁴ Isaan daadhii woyni'ii unaa, waaqota worqii irraa, meetii irraa, sageettu irraa, sibiila irraa, mukaa fi dhakaa irraa hujamane leellifatane.

⁵ Dedhuma qubi harka namaa mudhatee, mana mootumma'aa keessatti dhoobbuu dalleyaa, ta fuullee waan issaan irra keyamuu jirtuu irratti barreessuu jalqabe. Mootichi quba barreessiisatti jiru san dhagge.

⁶ Achiin duuba mootichi guddoo sodaatee, fuulli isaa jijjiirame; harkii fi miilli isa irraa bu'ee, jilbi isaalle wol dhowe.

⁷ Mootichi qoonqoo guddoon, worra xanu, worra moruu fi worra Kaldootaa ka urjii ilaalee waan gara duraa te'u himu, gara isaa akka ol seensisanu ajaje. Yennaa isaan ol seenane inni isaanii, «Nama barreeffama kana dubbisee hiikkaa isaa natti himutti woyaan dhiilleen isatti hin uffifanti; worqiin mormaa morma isaatitti hin keyanti; mootummaa tiyya keessalle'etti addee sadeesso'oo qabatee hin bulcha» jedhe.

⁸ Achiin duuba qarooleen mootichaa marti ol seenane; ammoo barreeffama dubbisuu yookiin hiikkaa isaa mootichatti himuu hin dandeenne.

⁹ Maarre mootichi Belshaazaar ka durii caalaa guddoo sodaatee, fuulli isaa jijjiirame; qondaaltoti isaalle waan jettu wollaalte.

¹⁰ Haati mootichaa qoonqoo mootichaatii fi qondaaltota isaa yennaa dhageette, gara addee jilaa ol seentee, «Ee mooticha, haga bara baraa le'i! Hin raafamin; fuulli keetille hin jijjiiramin!

¹¹ Mootummaa teeti keessa nami ayyaanni waaqota woyyootaa isa keessa jiru tokko jira; nami sun bara mootummaa abbaa keetii akka waaqotaa beekkumsaan, hubanti'ii fi qarumma'aan guutamee dhaggameera; abbaan keeti mootichi Nebukadnezaar worra xanu, worra moru, worri falfaluu fi worra Kaldootaa ka urjii ilaalee waan gara duraa te'u himu, irratti itti gaafatamaa isa godheera.

¹² Nami sun Daani'el ka mootichi, «Belxishaazaar» jedhee moggaase; inni oojjuu hiikiisaaf, hiibboo hiikiisaaf, waan dhossa'aa mudhisiisaaf, ayyaana

dansaa beekkumsaa fi hubantii nama qabu; inni barreeffama san dubbisee, hiikkaa isaa himiisa waan dande'uuf, isa waansis» jette.

Daani'el Hiikkaa Barreeffamaa Hime

¹³ Maarre Daani'el mooticha duratti dhikeessane; mootichille Daani'eliin, «Ati worra Yihuda'aa ka abbaan kiyya mootichi biyya Yihuda'aatii booji'ee fide keessaa tokkoo?

¹⁴ Ayyaanni waaqota woyyootaa si keessa akka jiru, beekkumsa, hubanti'ii fi qarummaa akka qaddu dhage'eera.

¹⁵ Qaroole'ee fi worri moru barreeffama kana dubbisee, hiikkaa isaa akka natti beessisanuuf na dura dhikaataneeraniyyu; ammoo hiikkaa barreeffama sanii naaf himiisa hin dandeenne.

¹⁶ Ati ammoo hiikkaa kennuu, waan nama rakkisulle hiikuu akka dandeettu ani dhage'eera; amma barreeffama dubbisuu, hiikkaa isaalle natti beessisuu yoo dandette, wayaan dhiilleen sitti hin uffifanti; worqiin mormaalle morma keetitti hin keyama; mootummaa tiyya keessalle'etti addee sadeesso'oo qabatee hin bulchita» jedhe.

¹⁷ Achiin duuba Daani'el deebisee, mootichaan, «Kennansi keeti si'umaaf hafuuti, badhaasa keetille nama dhibi'iif kenni. Ani ammoo barreeffama si mootichaaf dubbisee, hiikkaa isaalle sitti hin beessisa.

¹⁸ «Ee mooticha, Waaqi Ol Aanaan abbaa keeti Nebukadnezaariif mootummaa, guddinna, ulfinnaa fi arnya kenneeraayyu.

¹⁹ Sababa Waaqi guddinna isaaf kenneef, kolbaan hedduun, gosi biyya adda addaa, kolbaan afaan adda addaa dubbattu martinuu sodaattee, fuula isaa duratti hollatte; inni worra ijjeesuu barbaade ijjeese; worra hamburruu barbaade hambure; worra ulfeessuu barbaade ulfeesse; worra gad qabuu barbaade gad qabe.

²⁰ Yennaa inni kooree, mataa jabaate ammoo, barcumaa mootummaa ifii irraa bu'ee, ulfinni isaalle isa irraa fudhatame;

²¹ Waaqi Ol Aanaan mootummoota namootaa irratti mootii akka te'e, mootummoota sanille nama ifii fedheef akka kennu, haga inni beekutti, inni kolbaa keessaa ari'amee, qalbiin isaa jijjiirantee, akka bineensaa te'e; harree didaa woliin le'ee akka hori'ii marra dheede; nafi isaalle fixeensa olgubba'aatiin jiidhe.

²² «Atille Belshaazaar ilmi isaa tana mara adoo beettuu, ifi gad hin qanne;

²³ ati Goottaa ol-gubba'aa mormitee, ifi ol qadde; meya Galma Waaqaa keessaa akka fidanu goote; atii fi qondaaltoti teeti, niitotii fi gursumeeyyiin teeti, daadhii woyni'ii itti untane. Ati waaqota worqii irraa, meetii irraa, sageettuu irraa, sibiila irraa, mukaa fi dhakaa irraa hujamane, ka hin dhaggine yookiin ka hin dhageenne yookiin ka womaa hubatuu hin dandeenne leellifatte malee, Waaqa jiru'u fi ideensa keeti toowatuuf ulfinnaa hin kennine.

²⁴ Tanaaf Waaqi harka barreeffama san barreesse erge.

²⁵ «Barreeffam barreeffamelle, «Mene, mene, teqel, u-faarsiin» ka jedhu.

²⁶ Hiikkaan dubbii tanaalle, «Mene, mene», jechuun «Laakkowee, laakkowee» jechu'u; tanaaf Waaqi bara mootummaa teetii laakkowee, mootummaan teeti akka dhumattu godheera.

²⁷ «Teqel» jechuun, «Madaala» jechu'u; tanaaf ati madaala irra keyantee, sallattee dhaggante.

²⁸ «U-faarsiin» jechuun, «Gargar qoodante» jechu'u; tanaaf mootummaan teeti gargar qoodantee, worra Medooniitii fi Faaresiitiif kennate» jedhe.

²⁹ Achiin duuba Belshaazaar woyaa dhiillee Daani'elitti akka uffisanu, worqii mormaa morma isaatitti akka keyanu ajaje; mootummaa ifii keessalle'etti addee sadeesso'oo qabatee akka bulchu lassii baase.

³⁰ Mootiin worra Baabilonii Belshaazaar halkanuma san ijjeefamee,

³¹ Daariyos nami biyya Medoonii ka woggaa jaatamii lamaa, mootummaa san fudhate.

6

Daani'el Boolla Neenqaatitti Gatame

¹ Daariyos kutaa mootummaa isaa mara akka bulchanuuf, bulchitoota dhibbaa fi diddama muuduu barbaade;

² isaan irratti namoota sad itti gaafatantoota godhe; isaan sadiin keessaa tokkochi Daani'eliiyyu; mootichi akka hin rakkanneef bulchitooti sun worra sadiin kanaaf deebii kennaniyyu.

³ Daani'el qondaaltotaa fi bulchitoota caalaa ayyaana adda te'e waan qabuuf, mootichi kutaa mootummaa ifii mara irratti isa bulchaa godhuu barbaade.

⁴ Sababa kanaaf, qondaaltotii fi bulchitooti, hujii mootumma'aa ta Daani'el hujuun isa himatiisaaf barbaadane; inni addatamaa, wonni dokonkore yookiin yakke waan hin jirreef, isaa ammoo dokonkora yookiin balleessa tokkolle isa irratti dhagguu hin dandeenne.

⁵ Tanaaf jarri tun, «Dhuggeeffannaa inni Waaqa ifiititti dhugeeffatuun malee, waan Daani'el ittiin himannu hin dhagganu» woliin jedhane.

⁶ Maarre qondaaltotii fi bulchitooti gara mootichaa dhaqanee, «Ee mootii Daariyos, haga bara baraa le'i!

⁷ Ee mooticha, haga guyyaa soddomaa eennulle gara keeti malee, gara namaa yookiin gara waaqa dhibi'ii akka hin daadimanne, ati mootichi ajaja baattee, ajaji sunille akka muummeffamu, nami ajaja kana hin muummessine boolla neenqaatitti akka gatamu, nuuti qondaaltoti mootumma'aa gugurdoon, soorressitooti kutaa biyyaa, itti aantoti soorressitoota kutaa biyyaa, bulchitootii fi gorsitooti wolii galleerra.

⁸ Amma, ee mooticha, ajaji kun akka seera Medooniitii fi Faaresii ka jijjiiramuu hin dandeennee akka te'u, barreessiitii itti mallatteessi» jedhane.

⁹ Tanaaf mootichi Daariyos ajaja kana barreessee itti mallatteesse.

¹⁰ Daani'el ajaji akka itti mallatteeffame yennaa beeke, gara mana ifii ka kolloon mana irraa ka foddaan isi'ii fuullee Yerusaalemiititti banameeruu ol bayee, akkuma dur godhu guyya'atti yennaa sad jilbiiffatee gara Waaqa ifii daadimatee, leellifate.

¹¹ Namooti sun, Daani'el gara Waaqa ifii daadimataa, isa irralle'ee qarqaarsa gaafatuun dhaggane.

¹² Achiin duuba isaan Daani'el himatiisaaf gara mootichaa dhaqanee, mar-roo ajaja baye saniitiif, «Ee mooticha, nami guyyaa soddoma kana keessatti gara keeti qofa malee, gara waaqa dhibi'ii yookiin gara namaa daadimate, boolla neenqaatitti akka gatamuuf ajaja bayetti mallatteessiteertaayyuu motii?» jedhane.

Mootichi deebisee, «Eti'i, ajaji akkuma seera Medooniitii fi Faaresii ka hin jijjiirannee bayeera» jedhe.

¹³ Achiin duuba isaan mootichaan, «Ee mooticha, Daani'el worra biyya Yihuda'aatii booji'amane keessaa tokko ka te'e sun, si'iif yookiin ajaja ati itti mallatteessiteef ulfinna hin kennu. Inni haga ammaa guyya'atti yennaa sad gara Waaqa ifii daadimata» jedhane.

¹⁴ Mootichi tana yennaa dhage'e guddoo gadde; inni Daani'el baasiisaaf murteeffatee, haga aduun seentutti mala isa ittiin baasu mara wodhaane.

¹⁵ Achiin duuba namooti sun, gara mootichaa dhufanee mootichaan, «Ee mooticha, akka seera Medooniitii fi Faaresiititti lassiin yookiin ajaji mootichi baase tokko jijjiiramuu akka hin dandeenne beeki» jedhane.

¹⁶ Tanaaf mootichi ajajee jennaan, Daani'el qabanee fidanee boolla neenqaatitti gatane; mootichille Daani'eliin, «Waaqi ati yennaa mara addatamumma'aan tajaajiltu si baasuu ti» jedhe.

¹⁷ Dhakaa tokko fidanee afaan boollaa irra keyanee, eennulle Daani'el baasiisaaf akka hin wodhaanne, mootichi chaappaa qubee quba ifiitii fi ta qondaaltota ifiitiin dhakaa san irratti mallatteesse.

¹⁸ Achiin duuba mootichi gara mootummaa ifi deebi'ee, halkan san sagalee adoo hin nyaatin, wonni isa gammachiisulle akka isaaf dhikaattu adoo hin barbaadin, hirriiba dhabee bule.

¹⁹ Ganama akkuma boruun dayya'een mootichi ka'ee, ariiti'iin gara boolla neenqaa dhage.

²⁰ Inni yennaa boolla bira geye qoonqoo gaddaatiin, «Daani'el, tajaajilaa Waaqa jiraata'aa, Waaqi ati yennaa mara addatamumma'aan tajaajiltu neenqa jalaa si baasuu dande'eera?» jedhee waame.

²¹ Daani'el deebisee, «Ee mooticha, haga bara baraa le'i!

²² Ani Waaqa kiyya duratti ka komii hin qanne te'ee waan dhaggameef, akka neenqi na hin miine, inni ergamaa ifi ergee afaan neenqaa cufe; ee mooticha, ani si duralle'etti dokonkora hin hunye» jedhe.

²³ Mootichi guddoo gammadee, Daani'el boolla san keessaa akka ol baasanu ajaje; maarre isaan boolla san keessaa isa ol baasane; Daani'el Waaqa ifiititti waan addateeruuf, madaan takkaalle isa irratti hin dhaggane.

²⁴ Ajaja mootichaatiin worra Daani'el dharaan himate san niitota isaaniitii fi ijoollee isaanii woliin fidanee, boolla neenqaatitti gatane; adoo isaan boolla keessa lafa hin geyin, neenqoti isaan bubbutanee lafee isaanii mara butuchane.

²⁵ Achiin duuba mootichi Daariyos gara kolbaa heddu'uu, gosa biyya adda addaati fi kolbaa afaan adda addaa dubbattu ta biyya lafaa duudii keessa leetuu barreessee,

«Nageenni isiniif te'u!

²⁶ Kolbaan mootummaa tiyya keessa jirtu marti Waaqa Daani'elii akka sodaattuu fi ulfeessitu ani lassii baaseera.

«Inni Waaqa jiraataa
haga bara baraa le'u.

Mootummaan isaa ijumaan hin baddu;
barri mootummaa isaalle ijumaa dhuma hin qabu.

²⁷ Inni hin fayyisa; hin baasalle'e;
inni ol-gubba'aa fi lafa irratti
bilbaasaa fi maadee hin godha.

Inni Daani'el neenqa jalaa baaseera» jedhe.

²⁸ Bara bulchiinsa mooticha Daariyositii fi bara bulchiinsa Qirosii mooticha Faaresii keessa Daani'eliif le'iin tolte.

7

*Daani'el Bineensota Afur Mudhi'iin Dhagge
(7:1–12:13)*

¹ Bara Belshaazaar mootii Baabilonii te'e woggaa qaraa keessa, Daani'el taqee ifii irra irkatee adoo jiruu oojjuu oojjatee, mudhiille dhagge; achiin duuba oojjuu oojjate san barreesse.

² Daani'el, «Ani qilleensi ol-gubba'aa ka maddii afur irraa ka'e, abbaayaa guddittii raasuun halkan mudhi'iin dhagge.

³ Bineensoti adda addaa gugurdaan afur abbaayaa san keessaa bayane.

⁴ Bineensi qaraa neenqa fakkaata; inni akka risa'aa koola qaba; adoo ani ilaalu koollii isaa irraa buqqa'ee, lafaa ol ka'ee, akka namaa miila lamaaniin dhaabbatee, qalbiin namaalle isaaf kennante.

⁵ «Bineensi lammeesso'oo doobbaa fakkaata; inni gara duraatiin ol jedhee, lafee cinaachaa sad afaanitti qabaayyu; bineensa saniin qoonqoon, «Haga dandeette foon nyaadhu!» jette.

⁶ «Saniin duuba bineensa dhibii ka qeeransa fakkaatu dhagge; bineensi kun dudda ifii irraa koola afur ka akka koola sinbirre'eetii fi mataa afur qabaayyu; akka bulchuufille baalliin isaaf kennante.

⁷ «Saniin duuba, bineensa arfeesso'oo ka bararassu, ka sodaachisuu fi jabaa hamaa halkan mudhi'iin dhagge; bineensi sun ilkaan sibiilaa gugurdaa qaba; inni waan ijjeese nyaatee, caccasse; waan hafelle miilaan irra sirbe; inni bineensota isaan qara jiranu mara irraa ka isa adda godhu, gaafa kudhan qabaayyu.

⁸ Ani marroo gaafota isaa san adoo yaadiisatti jiruu, gaafi diqqichi dhibiin odduu gaafota saniitiin quuqee ol baye; gaafota qaraa keessaa sadiin ka isaan dura jiranu buqqa'ane; gaafi diqqichi kun ila akka ila namaatii fi afaan ittiin koora dubbatu qabaayyu» jedhe.

Mudhii Marroo Ka Haga Bara Baraa Jiraatuu

⁹ Daani'el ammalle, «Adoo ani ilaaliisatti jiruu barcumooti mootumma'aa keyame; ka Durii Durii Sun* irraa tee'e; woayaan isaa akka dhakaa bokkeyaa adii, rifeensi mataa isaalle akka fuutta'aa, barcumaan mootumma'aa ka isaa akka bobe'a ibiddaa ti; korboon barcuma saniille akka ibidda bobe'uu ti.

¹⁰ Maddi ibiddaa isa duraa maddee yaa'a; worri kuma heddu'utti laakkowamu isa tajaajilan; worri miliyoonii heddu'utti laakkowamulle isa dura dhaabbatan; korri mura'aa tee'e; kitaabotille banamane.

¹¹ «Ani sababa dubbii gaafi sun kooraan dubbatuuf isa ilaale; adoo ani ilaaliisatti jiruu, bineensi sun ijjeefamee, reeffi isaa gubatee akka baduuf ibiddatti gatame.

¹² Bineensota hafane kaan irraa baalliin isaanii fudhatante; ammoo yenna murtootteef akka le'anuu, yennaan isaanii kennante.

¹³ «Ani ilma namaa ka fakkaatu duumensa ol-gubba'aatiin dhufiisatti jiruun, halkan mudhi'iin dhagge; inni gara ka haga bara bara jiraatuu dhufee isa duratti dhikeeffame.

¹⁴ Kolbaan hedduun, gosi biyya adda addaatiin fi kolbaa afaan adda addaa dubbattu akka isa tajaajilanuuf baalliin, ulfinnii fi hunni Mootii waan maraa te'iisaa isaaf kennante; barri bulchiisa isaa ka haga bara baraa hin dabarre; mootummaan isaalle ijjumaa dhuma hin qaddu.

Hiikkaa Mudhi'ii

¹⁵ «Ani Daani'el mudhii dhaggeen rakkadhee, qalbiin tiyya raafante.

¹⁶ Ani worra achi dhaabbateeru keessaa gara tokkoo dhikaadhee, marroo waan kana maraa hiikkaa dhuga'aa isa gaafadhe; innille hiikkaa waan kana maraa natti himee,

* 7:9 Ka Durii Durii Sun: Waaqa jechu'u.

¹⁷ «Bineensoti gugurdaan arfan kun, mootota arfan kaatee ta lafa tana bulchitu.

¹⁸ Woyyooti Waaqa Ol-Aana'aa ammoo, mootummaa san fudhattee haga bara baraatitti hin qabatti, ee, haga bara baraa hin qabatti» jedhe.

¹⁹ «Achiin duuba ani marroo bineensa arfeesso'oo, ka bineensota kaan mara irraa adda te'e, ka guddoo sodaachisu, ka ilkaan sibiilaatii fi qeenca sageettu'uu qabu, ka waan ijeese nyaatee, caccassee, waan hafelle miilaan irra sirbuu, hiikkaa isaa ta dhuga'aa beekuu barbaade.

²⁰ Akkasuma marroo gaafota kudhan ka mataa isaa irra jiruu, marroo gaafa diqqicha quuqee ol bayeetii fi marroo gaafota sadii ka gaafa diqqicha duraa buqqa'anee beekuu barbaade; gaafi diqqichi kun gaafota kaan ka caalu fakkaatee, ila akka ila namaatii fi afaan ittiin kooraa dubbatu qabaayyu.

²¹ «Ani adoo ilaalu gaafi diqqichi sun kolbaa Waaqaatitti lola kaasee,

²² haga ka Durii Durii Sun dhufee, kolbaa Waaqa Ol-Aana'aatiif muraahaa kennutti, inni isaan injifate; yennaan kolbaan Waaqa Ol-aana'aa sun mootummaa san qabatanulle geette.

²³ «Ka hiikkaa natti hime sun, «Bineensi arfeesso'oo sun, mootummaa arfeesso'oo ta lafa irratti ka'u'uu jirtu. Isiin mootummoota dhibii mara irraa adda teetee, lafa duudii nyaatee, irra sirbitee butuchiti.

²⁴ Gaafoti kudhan sun mootota kudhan ta mootummaa san keessaa ka'u'uu jirtu; mootota saniin duuba mootiin dhibiin ka isaan irraa adda te'e ka'ee, mootota sadiin hin injifata.

²⁵ Inni Waaqa Ol-Aana'atti mormee hin dubbata; kolbaa Waaqa Ol-Aana'aalle cunqursee, yennaa jila beekkanteetii fi seera Waaqaa jijjiiriisaaf hin wodhaana; kolbaan Waaqaa woggaa sadii fi wodhakkaa baallii isaatiin jala hin teeti.

²⁶ Achiin duuba korri mura'aa ka ol-gubba'aa hin tee'a; mootii te'iis isa irraa fudhatamee, ijjumaa hin bada.

²⁷ Mootummaan, mootii waan maraa te'iis, hunnii fi guddinni mootummoota lafa duudii irra jiranuu, kolbaa Waaqa Ol-Aana'aatiif hin kennaman; mootummaan isaanii mootummaa haga bara baraa ti; mootoleen marti isaaniif ajajamiisaan isaan hin tajaajilan» jedhe.

²⁸ «Hiikkaan oojuu'uu as irratti dhumatte; ani Daani'el guddoo sodaadhee, bifi tiyya jijjiirante; dubbii san ammoo qalbi'itti qabadhe» jedhe.

8

Daani'el Korbeessa Hoole'eetii Fi Re'e'ee Mudhi'iin Dhagge

¹ Belshaazaar mootii te'ee woggaa sadeesso'ootitti ani Daani'el, mudhii dur natti mudhatteen duuba mudhii dhibii dhagge.

² Mudhii san keessatti ani qachaa Susa'aa, ka lafa Elaamii keessaa, ka dalleya dhaka'aatiin marfamee ijaarrame keessatti ifi dhagge; ani mudhi'iin irga laga Ulaayii bira jiraayyu.

³ Ani ol ilaalee korbeessa hoole'ee ka gaafa dhedheeraa lama qabu, irga lagaa dhaabbateeruun dhagge; gaafi tokkochi kaan caalaa dheerata; te'uu malee ka caalaa dheeratu sun ka duuba irra late.

⁴ Korbeessi sun gara aduun seentu, gara kaabaatii fi gara kibbaa gaar-rifatuun dhagge; bineensoti tokkolle isa dura dhaabbatuu hin dandeenne; hunna isaa jalalle'ee ka bawuu dande'e hin jiru; inni waan fedhe mara godhe; guddoolle hunnaamessa te'e.

⁵ Ani marroo waan kanaa adoo yaadiisatti jiruu, korbeessi re'e'ee tokko, ka gaafa guddaa wodhakkaa lamaaniititti qabu, miilli isaa adoo lafa hin tuqin, gara aduun seentu irraa, figaa dhufe.

⁶ Inni gara korbeessa hoole'ee ka gaafa lamaan qabu, ka ani irga lagaa dhaabbateeruun dhagge sanii hunna guddo'oon itti fiige.

⁷ Gara korbeessa hoole'ee san dhikaatee, guddoo itti aaree, itti bu'ee gaafa isaa lamaanuu cassuun dhagge; korbeessi hoole'ee sun isa ifi irraa dhooggatiisaaf hunna dhabe; korbeessi re'e'ee sun korbeessa hoole'ee lafatti dhowee, irra sirbe; hunna isaa jalalle'ee eennulle isa baasuu hin dandeenne.

⁸ Achiin duuba korbeessi re'e'ee sun guddoo hunnaamessa te'e; yennaa guddoo hunnaamessa te'e ammoo, gaafi isaa dheerichi cabe; addee isaatitti gaafoti gugurdaan arfan, gara maddii arfaniititti daddabee late.

⁹ Gaafota arfan kana keessaa tokkocha irratti gaafi diqqichi dhibiin latee, gara kibbaa, gara aduun baatuu fi gara lafa Israa'elii bisile'etti guddoo guddate.

¹⁰ Gaafi diqqichi sun haga loltoota ol-gubba'aa bira gewutti guddate; loltoota san keessaa loltoota gari'ii fi urjoota garii gara lafaa gad qolaansee irra sirbe.

¹¹ Inni sooressa loltoota ol-gubba'aatiin ifi qixxeesse; ciincaa guyyuma guyya'aan isaaf dhikaattulle akka isa irraa hafu godhee, addee Galma isaa batteesse.

¹² Sababa cubbu'uutiif, loltooti sunii fi ciincaan guyyuma guyya'aan dhikaatu sunille isaaf dabarfamanee kennamane; inni dhugaa lafatti gad gate; wonni inni huju marti isaaf teete.

¹³ Achiin duuba ani woyyichi tokko dubbatuun dhage'e; woyyichi dhibiin, woyyicha dubbate saniin, «Mudhiin marroo ciincaa guyyuma guyya'aan dhikaatuu, ta hammeenna badii fiduu, akka inni irra sirbuuf, addeen woyyitti'ii fi loltooti isaaf dabarfamanee kennamane sun, yoom muum-motti?» jedhe.

¹⁴ Inni deebisee, «Ciincaan guyyuma guyya'aan dhikaatu sun, haga gana-maa fi galgala kuma lamaa fi dhibba sadii tura; achiin duuba addeen woyyittiin sun sirri'itti hin deebiti» jedhe.

Ergamaan Waaqaa Gabri'eel Mudhii San Hiike

¹⁵ Ani Daani'el mudhii san dhaggee, hiikkaa isi'ii hubatiisaaf adoo ani wodhaaniisatti jiruu, ka nama fakkaatu tokko achi na dura dhaabbate.

¹⁶ Laga Ulaayii irraa qoonqoo namaa ta, «Gabri'eel, hiikkaa mudhii sanii namicha knatti himi» jettu dhage'e.

¹⁷ Maarre Gabri'eel dhufee yennaa na bira dhaabbate, ani rifadhee fuulaan lafatti gad gombifamee; inni ammoo, «Ilma namaa, mudhiin sun marroo bara muumme'ee akka teete hubadhu» naan jedhe.

¹⁸ Adoo inni natti dubbatiiisatti jiruu, ani fuulaan lafatti jigee ifi wollaale; achiin duuba inni qabee ol na kaasee na dhaabbachiisee,

¹⁹ «Mudhiin marroo bara muumme'ee waan teeteef, guyyaa mufi'ii san waan te'u'uu jiru sitti hima.

²⁰ «Korbeessi hoole'ee ka gaafa lama qabu ati dhaggite sun, mootota Medooniitii fi Faaresii ti.

²¹ Korbeessi re'e'ee mootii Giriikii ti; gaafi guddaan ila isaa lamaan wodhakkaa'aa sun, mootii Giriikii ka qaraa ti.

²² Gaafoti afur ka addee gaafa cabee sanitti late sun, kolbaa biyya sanii keessaa mootummoota afur ta ijaaramu'uu jirtu; ammoo akka mootummaa qaraa san hunna hin qabanu.

²³ «Bulchiinsa mootummoota sanii gara dhumaa irratti, yennaa worri seera yakku akka malee hammaateeru, mootichi mati-jabaan, dharaamessi hin ka'a.

²⁴ Inni guddoo jabaa hin te'a; ammoo hunna ifitiinii moti. Inni badii hantuu hin fida; wonni inni huju marti isaaf hin teeti. Inni namoota jajjaba'aa fi kolbaa Waaqaa woyyoota hin balleessa.

²⁵ Maltummaa isaatiin wonni marti isaaf hin teeti; ifumaan guddaa ifi hin godha. Adoo ifi hin eeggachiisin nama hedduu hin ijjeesa; qondaala qondaaltotaa irratti hin ka'a; te'uu malee hin bada; ka baduunille harka namaatiinii moti.

²⁶ Mudhiin marroo ganamaa fi galgalaa sun dhuga'a. Ammoo yennaan mudhiin sun muummottu fagoo waan teeteef, dhossii qabadhu» anaan jedhe.

²⁷ Maarre ani Daani'el dadhabee, bututee dhibamee, guyyaa hedduu irkadhe; achiin duuba ka'ee hujii mootichaa dhaqe. Ani mudhii dhaggeen rakkadhe; waanuma isi'iituu hin beenneeyyu.

9

Daani'el Kolba'aaf Daadimate

¹ Sanyii medoonii keessaa Daariyos ilmi Ashwerosii, Baabilonitti mootii te'e.

² Bara mootummaa isaa woggaa tokkeesso'ootitti, ani Daani'el, akkuma Mootiin Waan Maraa raagicha Ermiyaasitti dubbate, diigamiis Yerusaalemii woggaa torbaatama akka turu, Barreeffama Woyyicha keessaa hubadhe.

³ Tanaaf ani woyaa gaddaa uffadhee, daadhaa irra tee'ee, laamiisaan, daadimatiisaa fi gaafatiisaan fuula kiyya gara Mootii Waan Maraa Waaqatti deebifadhe.

⁴ Ani cubbuu tiyya himataa, «Ee Mootii Waan Maraa, ati gudda'a, hin sodaachittalle'e! Worra si jaalatuu fi worra seera keeti eegatuuf, waadaa galtee fi jaalala keeti ka bara baraa hin eegatta.

⁵ «Nuuti cubbuu hunyeerra; yakkiineerralle'e; hantuu hunyee finqilleera; ajajaa fi seera keeti irralle'ee deebineerra;

⁶ tajaajiltoota teeti raagota worra maqaa keetiin mootota keennatti dubbatanu, soressitoota teenna, abbootii keennaa fi kolbaa biyya lafa mara hin dhageenne.

⁷ Ee Gootta'a, ati balcha'a; nuuti ammoo worra addatamaa si'iif waan hin te'iniif, nuuti namooti Yihuda'aa, kolbaan Yerusaalemiitii fi Israa'elii, bayya'aa fi dhikoo worri jirru ka ati biyya lafaa mara keessa bittinneessite yennaa ammaa tana salphanneerra.

⁸ Ee Mootii Waan Maraa, nuutii fi moototi kenna, qondaaltoti keennaa fi abbootiin kenna cubbuu waan hunyeef salphanneerra.

⁹ Nuuti finqillee isa irratti kaanulle Mootiin Waan Maraa Waaqi kenna marara'aa fi ka araaramu.

¹⁰ Nuuti Mootii Waan Maraa Waaqa keennaaf hin ajajanne; seera inni karaa tajaajiltoota teeti raagotaatiin nu'uuf kennelle hin eeganne.

¹¹ Israa'elooti duudiin seera keeti irra dabaranee, siif ajajamuu dida-neeran; nuuti waan si irratti cubbuu hunyeef, abaarsii fi kakuun ka seera tajaajilaa Waaqaa Muuse'eetitti barreeffame nu irratti dhangala'e.

¹² Ati badii guddoo nu'uu fi abbootii mura'aa teenna irratti fidiisaan, wonni ati dubbatte marti akka nu irratti muummottu goote; wonni qachaa Yerusaalemii irratti teete, ol-gubba'aan jalatti ijjumaa teetee hin beettu.

¹³ Akkuma Seera Muuse'ee keessatti barreeffame, badiin tun duudiin nu dhaqqadde; te'uu malee nuuti cubbuu teenna irraa deebi'iisaan, dhugaa teetille hordofatiisaan si Mootii Waan Maraa Waaqa keenna hin gammachi-inne.

¹⁴ Ee Mootii Waan Maraa Waaqa keenna, ati waan gootu maraan balcha'a; nuuti ammoo waan siif hin ajajaminiif, badii tana duudii nu irratti fidde.

¹⁵ «Ee, Gootaa Waaqa keenna, sittuu harka hunnaamessaan kolbaa teeti biyya Gibxi'ii keessaa baatee, maqaan keeti haga adhaatitti akka beekkamuu goote; nuuti cubbuu hunyeerra; yakkineerralle'e.

¹⁶ Ee Gootaa, ati akka hujii teeti balchitti'iititti mufi'ii fi aarii teeti qachaa keeti Yersaaleem irraa, gaara keeti woyyicha irraa deebis. Sababa cubbuu teennaatii fi yakkaa abbootii teennaatiif qachaan Yersaaleemiitii fi kolbaan teeti, odduu worra adaala keenna jiranuu maratti salphataneeran.

¹⁷ Ee Waaqa keenna daadimataa fi gaaffii tajaajilaa keetii dhage'i; ee Gootaa, maqaa keetiif jedhiitii, Galma keeti diigameef marari.

¹⁸ Ee Waaqa, maganne'e naa dhage'i; rakkoo teennaa fi badii qachaa maqaa keetiin waamamuu ilaal. Nuuti balchummaa teennaaf adoo hin te'in, marartii teeti guddo'otti addannee daadimata keenna gara keeti dhikeeffanna.

¹⁹ Ee Gootaa'a, nuu dhage'i. Ee Gootaa'a, nuu araaram. Ee Gootaa'a, nuu dhage'iitii, waan tokko godhi. Qachaan keetii fi kolbaan teeti maqaa keetiin waan waamamaneef, ee Gootaa'a, maqaa keetiif jedhiitii hin turin» jedhee, gara Gootaa Waaqa kiyyaa daadimadhe.

Gabri'eel Ergamaan Waaqaa Raaga Dubbatame Hiike

²⁰ Ani cubbuu tiyyaa fi cubbuu kolbaa tiyya Israa'elii adoo dhugaa bayisatti jiruu, marroo gaara woyyicha Waaqa kiyyaatiif, Mootii Waan Maraa Waaqa kiyya gaafataa,

²¹ adoo daadimatiisatti jiruu, ergamaan Waaqaa Gabri'eel ka akka namaa fakkaateeruun ani qara mudhi'iin dhagge sun, yennaa ciincaan galgalaa dhikaatutti, gara kiyya xinniqaa dhufe.

²² Inni na hubachiisiisaaf natti dubbatee, «Ee Daani'el, ani amma qarummaa'aa fi hubantii siif kenniisaaf dhufeera.

²³ Ati guddoo jaalatamaa waan teeteef, akkuma ati daadimatiisa jalqaddeen, deebiin si'iif kennanteerti; anille tana sitti himiisaaf dhufe. Tanaaf ergaa tana qalbeeffadhuutii, mudhiille hubadhu.

²⁴ «Balleessaan akka hattuuf, cubbuu hujjis akka dhaabbattu, yakka'aaf araari akka kennamu, balchummaan bara baraa akka dhuttuuf, mudhi'ii fi raaga irratti chaappaan akka godhamu, Addeen Irra caalaa Woyyittiin akka muudantuuf, torbaan torbaatam kolbaa teeti irratti laffameera.

²⁵ Tana beekiitii hubadhu; yennaa Yersaaleem adde'etti deebitee akka ijaarantuuf ajaji bayeen jalqabee, haga yennaa bulchaan muudame dhufuutitti torbaan torba hin dabarti; akkasuma torbaan jaatamii lamaaf badhinneen qachaa Yersaaleemii ijaarantee, baleen hin qotanti; te'uu malee tun duudiin bara rakko'ootitti teeti.

²⁶ Bulchaan Muudame torbaan jaatamii lama saniin duuba, haga malee hin ijjeefama; loltooti bulchaa dhibii ka dhufuu, qachaa Yersaaleemiitii fi Galma Waaqaa hin balleessan; muummeen qachaa Yersaaleemiitii fi Galma Waaqaa lola'aan teeti; badiin waan itti laffanteefille lolli haga dhumaatitti hin te'a.

²⁷ Bulchaan dhibiin sun woggaa torbaaf kolbaa hedduu woliin gondoaroo hin godha; inni gamisa woggaa torbaatitti ciinca'aa fi kennansi midhaanii akka hafu godhee, addee ciinca'aatii fi kennansa midhaan sanii, battummaa

badii fiddu Galma Waaqaa keessatti akka jiraattu hin godha; tunille adabbiin bulchaa san irratti laffante haga muummottutti teeti» jedhe.

10

Mudhii Daani'el Laga Xeegrosii Biratti Dhagge

¹ Qiros biyya Faaresiititti mootii te'ee woggaa sadeesso'ootitti, mudhiin takka Daani'elii Belxishaazaar jedhamutti mudhatte. Mudhiin sun ta dhuga'aa ti; isiin marroo lola gudda'aa ta beessittu; inni mudhii san akka hubatuuf, mudhi'iin hubantiin isaaf kennante.

² Yennaa san ani Daani'el torbaan sadiif gadda irra jiraayyu.

³ Torbaan sad haga dabartutti ani sagalee dansaa hin nyaanne; foonii fi daadhii woyni'ii afaaniin hin qanne; waan iffatanulle fuula yookiin mataa hin iffanne.

⁴ Ji'a qaraa guyyaa diddamii arfeesso'ootitti, ani laga Xeegrosii guddicha bira dhaabbadhee,

⁵ yennaa ol ilaale, namicha woyaa quncee talba'aa irraa hujante uffatee, hidha ifii hiituu worqi'iitiin hidhate tokko dhagge.

⁶ Nafi isaa akka dhakaa, «Beerilos» jedhamuu issa; fuulli isaa akka bal-aqqeetti'ii calaqqisa; ilti isaa bobbe'a ibiddaa fakkaatti; harkii fi miilli isaa akka sageettuu morodantee cululuqa; qoonqoon isaa akka qoonqoo kolbaa heddu'uu ti.

⁷ Ana Daani'el calla'attuu mudhii tana dhagge malee, worri na woliin jiru hin dhaggine; ammoo guddoo waan sodaataneeff, baqatanee dhokatane.

⁸ Maarre ani qofii tiyya hafee mudhii guddoo tana dhagge; ani jabeenna dhabee, fuulli kiyya shankallowee, hunnalle dhabe.

⁹ Achiin duuba qoonqoo namichaa dhage'e; yennaa qoonqoo isaa dhage'e, rifadhee fuulaan lafatti jigee, ifi wollaale.

¹⁰ Achiin duuba harki tokko na tuqee, ani rorommaa harkaan lafa qabadhee, jilba kiyyaan akka jilbiiffadhu na godhe.

¹¹ Ergamaan Waaqaa sun anaan, «Ee Daani'elii guddoo jaalatante, ani gara keeti waan ergameef, dubbii ani sitti dubbadhu akka dansaa hubadhu; addee jirtutti ol ka'ii dhaabbadhu» naan jedhe; yennaa inni dubbii tana natti dubbate, ani rorommaa ol ka'ee dhaabbadhe.

¹² Achiin duuba inni anaan, «Ee Daani'el, hin sodaatin. Guyyaa ati hubantii dhaggatiisaaf, Waaqa duratti ifi gad qabiisaaf murteessiteen jalqabee, daadimati keeti dhage'ameera; daadimati keeti waan dhage'ameef, ani gara keeti ergamee dhufe.

¹³ Sooressi guddichi ka mootummaa Faaresii, guyyoota diddamii tokko anaan morme; achiin duuba Mikaa'el sooressi sooressitootaa, qofi hafiisa kiyya dhaggee na qarqaariisaaf dhufe.

¹⁴ Mudhiin sun marroo guyyoota gara duraa waan mudhittuuf, guyyoota muumme'eetitti waan kolbaa teeti dhaqqabu'uu jiru, si hubachiisiisaaf ani gara keeti dhufe» jedhe.

¹⁵ Yennaa inni tana natti dubbate, ani lafa ilaalee dubbatiisa dadhabe.

¹⁶ Achiin duuba ergamaan ilmaan namaa fakkaatu tokko, hidhii tiyya tuqe; anille afaan kiyya banadhee dubbadhee, ka na dura dhaabbateeru saniin, «Ee gootaa kiyya, sababa mudhii tanaatiin guddoo farree, hunna dhabeera.

¹⁷ Ani hunna dhabee, hafuurri na keessaa waan dhumateef, ani tajaajilaan keeti, attamiin si gootaa kiyya woliin dubbatiisa dande'a ree?» jedhe.

¹⁸ Ammalle ergamaan ilmaan namaa fakkaatu sun, na tuqee na jabeessee,

¹⁹ «Ee nama guddoo jaalatante, hin sodaatin; nageenni siif te'u; jabaadhu, jajjabaadhu» jedhe.

Yennaa inni natti dubbate, ani jabaadhee, «Ee gootaa kiyya, ati waan na jabeessiteef dubbadhu» jedheen.

²⁰ Achiin duuba inni anaan, «Ani maaf gara keeti akka dhufe hin beetaa? Ani ammalle sooressa guddicha Faaresii loliisaaf achi hin deebi'a; ani deemeen duuba sooressi guddichi Giriikii hin dhufa.

²¹ Ani ammoo dursee, waan Kitaaba Dhuga'aa keessatti barreeffame sitti hima; Mikaa'elii sooressa guddicha keessan malee, sooressitoota gugurdoo tanaan wol loliisaaf ka na qarqaaru hin jiru.

11

¹ «Daariyos nami biyya Medoonii mootii te'ee woggaa tokkeesso'ootitti, isa qarqaariisaa fi jabeessiisaaf, ani isa bira dhaabbadheeraayyu.

² Ammalle ani waan dhuga'aa sitti hima» jedhe.

Mootota Kaabaatii Fi Kibbaa

Ergamaan ilmaan namaa fakkaatu sun, «Moototi dhibiin sadiin biyya Faaresii keessatti hin kaati; ka arfeesso'oo isaan caalaa hin durooma; inni yennaa durummaa ifitiin jabaate, biyya mara mootummaa Giriikii irratti hin kakkaasa.

³ «Achiin duuba mootichi jabaan lola jaalatu, ka hunnaan bulchuu fi ka waan fedhe godhu tokko hin ka'a.

⁴ Akkuma hunni isaa jabaatteen ammoo, mootummaan isaa diigantee, maddii afuritti gargar hin qoodanti; mootummaa isaa isa irraa fudhatantee worra dhibi'iif waan kennantuuf, sanyii isaatitti hin dabartu; akka qaraalle hunna hin qabaatu.

⁵ «Mootichi kibbaa hin jabaata; abbootii duulaa isaa keessa ammoo, tokko isa caalaa jabaatee hin bulcha; mootummaan isaalle mootummaa guddoo hin teeti.

⁶ Woggoota diqqo'oon duuba mootichi kibbaa, mooticha kaabaa woliin wolii galan. Intalti mooticha kibbaa, wolii galtee isaanii jabeessiisaaf mooticha kaaba hin heerumti; isiin ammoo hunna ifitiin turuu hin dandeettu; innii fi hunni isaalle jabaatee hin leetu; tanaaf isiin, dhirsi isi'ii, worri isii gara biyya sanii geessee fi abbaan isi'ii hin ijjeefaman.

⁷ Sanyii isi'ii keessaa tokko mootii kibbaa te'ee, loltoota mootii kaabaa hin lola; kushee isaaniille diigee isaan hin injifata.

⁸ Inni fakkii waaqota isaanii, meya gatii guddo'oo meeti'ii fi worqi'ii booji'ee gara biyya Gibxi'ii hin geessa; woggoota diqqo'oof inni mootii kaabaa hin lolu.

⁹ Achiin duuba mootiin kaaba mootii kibbaa hin lola; ammoo dheetee gara biyya ifii hin deebi'a.

¹⁰ «Ilmaan isaa mootii kibbaa loliisaaf qophowanee, loltoota bacaawolitti hin qabatan. Isaan keessaa tokko akka lolaa bisaanii te'ee, kushee diinotaa irra hin dhangala'a.

¹¹ Achiin duuba mootiin kibbaa aari'iin ka'ee, loltoota bacaawolitti hin qabatan. Isaan keessaa tokko akka lolaa bisaanii te'ee, kushee diinotaa irra hin dhangala'a.

¹² Loltooti bacaan yennaa booji'ante inni hin koora; loltoota kaabaa ta kuma heddu'utti laakkowantu hin fixa; inni ammoo injifachaa saniin jabaatee hin le'u.

¹³ «Mootiin kaabaa ka duraa caalaa loltoota bacaawolitti hin qabatan. Isaan keessaa tokko akka lolaa bisaanii te'ee, kushee diinotaa irra hin dhangala'a.

¹⁴ Bara san kolbaan hedduun mootii kibbaa irratti hin ka'an; Daani'el, mudhiin teeti akka muummottuuf, kolbaa teeti keessalle'ee worri hunnaan nama irratti ka'anu hin ka'an; ammoo hin injifataman.

¹⁵ Achiin duuba mootiin kaabaa qachaa dalleenni dhaka'aa itti ijaarame tokko marsee hin qabata. Loltooti kibbaa ifi irraa dhooggatuu hin dandeettu; loltooti filamaneeyyuu, ifi irraa dhooggatiisaaf hunna hin qaabatan.

¹⁶ Mootiin kaaba sun waan fedhe hin godha; ka isa ifi irraa dhooggatiisa dande'u hin jiru. Inni lafa Israa'elii bisilee hin qabata, isii balleessiisaafille hunna hin qabaata.

¹⁷ «Inni loltoota mootummaa ifi duudii woliin duuliisaa hin yaadata; mootii kibbaa woliin wolii galtee nageyaa hin godha; mootummaa san balleessiisaaf, intala ifi mooticha kibbaa hin heerumsiisa; ammoo yaadi sun isaaf hin te'u yookiin isa hin qarqaaru.

¹⁸ Achiin duuba inni gara lafa qarqara abbaayaa Mediteraaniya'aa hin deebi'a; kolbaa hedduulle hin qabata; ammoo abbaan duulaa tokko isa injifatee, koora isaa hin dhaabbachiisa; dhugumaan dubbii inni kooraan dubbattelle isuma irratti hin deebisa.

¹⁹ Achiin duuba mootichi kaabaa gara kushee biyya ifi hin deebi'a; inni ammoo gufatee hin jiga; deebi'eelle hin dhaggamu.

²⁰ «Mootiin addee isaa bu'u, ulfinna mootummaa ifi eegisiisaaf nama gibira guuru hin erga; te'uu malee woggaa diqqo'oon duuba aarii kolba'aatiin yookiin woraanaan adoo hin te'in, mootichi sun hin du'a.

Mooticha Hamaa Kaabaa

²¹ «Isaan duuba nami tuffatamaan tokko hin ka'a; ulfinni mootummaa'aa isaaf hin kennamu; adoo kolbaan dedhuma jirtuu, malaan dhufee sobiisaan mootummaa hin qabata.

²² Inni loltoota hunnaameyyii bacaa, soorressa gondooro'oo injifatee haxowee hin balleessa.

²³ Kolbaan biyya adda addaa hedduun isaa woliin wolii galan; inni ammoo isaan hin soba; hunna guddoo hin qabaata; ammoo kolbaa diqqo'otti isa qarqaara.

²⁴ Inni kolbaan lafa bisilee keessaa dedhuma adoo jirtuu, hin lola; waan abbootiin isaa ta durii hin godhin hin godha. Inni meyaa fi karra booji'e mara worra isa gula deemuuf hin qooda; kushee jissiiisaaf mala dhowa; ammoo yennaa diqqoo qofaaf isaaf teeti.

²⁵ «Inni loltoota guddoo qopheeffatee, mootii kibbaa loliisaaf hunnaa fi jabeenna ifi hin kakkaasa; mootiin kibbaalle loltoota baca'aa fi jajjadduu hin qopheeffata; isaan isa irratti mala waan dhowaneef, inni ammoo ifi irraa dhooggatuu hin dande'u.

²⁶ Worri isaa woliin nyaatuuyyuu isa balleessiisaaf hin wodhaanan; loltooti isaa hin haxowaman; hedduun isaaniille hin du'an.

²⁷ Moototi lamaanuu gadhaa ifi keessatti hammeenna qabatanee, qorii takka'atti nyaatiisaaf hin tee'an; wolille hin soban; muummee isaaniitiif yennaan Waaqi murteesse waan hin geyiniif ammoo, isaaniif hin teetu.

²⁸ Mootichi kaabaa karra booji'e fudhatee, gara biyya ifi hin deebi'a; yaad isaa ammoo gondooro woyyittii balleessiisa; waan fedhe godheen duuba gara biyya ifi hin deebi'a.

²⁹ «Yennaa murtootetti mootichi kaabaa deebi'ee mootii kibbaa hin lola; te'uu malee akka yennaa duraa isaaf hin teetu.

³⁰ Worri Rooma'aa hobolo'oon dhufee waan loluuf, inni hin sodaata. Achiin duuba gara duuba deebi'ee gondooro woyyitti'itti aarii ifi baya; deebi'eelle gorsa worra gondooro woyyittii lakkisee hin fudhata.

³¹ Loltooti isaa Galmaa Waaqaatii fi dalleya Galma Waaqaa batteesane. Isaan ciincaa guyyaa guyya'aan dhikaatulle akka hafu godhane, farra badi'ii hin dhaaban.

³² Inni worra gondoороo lakkise sossobiisaan qarqaarsa irraa dhaggata. Kolbaan Waaqaa ifii beettu ammoo, jabaattee isa mormiti.

³³ Worri qarooleen odduu kolba'aa jiranu, kolbaa barsiisiisan; te'uu malee yennaa diqqo'oof shallaaga'aan hin ijjeefaman yookiin ibiddaan hin gubatan yookiin hin booji'aman, yookiin hin saamaman.

³⁴ Rakkoo san keessa isaan qarqaarsa diqqaa hin dhaggatan; worri bacaan sobaan isaanitti hin dabalama.

³⁵ Haga yennaan Waaqi murteesse geettutti, akka isaan dhimbiibamanu, akka qulluu te'anuu fi qulqulloomanu, qaroolee san keessaa worri diqqaan hin ijjeefama.

³⁶ «Mootiin kaabaa waan fedhe hin godha. Inni ifi ol qabee, waaqota mara ka caalu ifi seya. Waaqa waaqota caalu irratti arraba hamaa hin dubbata. Wonni murteeffame marti te'u'uuf waan malteef, yennaan mufii Waaqaa haga muummottutti wonni marti hin teetiif.

³⁷ Inni waaqota abbootii ifii ta duriitiif yookiin waaqota dubartooti jaalatuu ulfinna hin kennu; inni ka mara caalu waan ifi seyuuf waaqota dhibii tokkolle'eef ulfinna hin kennu.

³⁸ Addee isaanii, waaqa, «Kushee eega» jedhamuuf ulfinna hin kenna; waaqa abbootiin isaa ta durii hin beenne tokkoof, worqi'ii fi meetii, dhakaa gatii guddo'ootii fi kennansa gatii guddo'oo kenniisaan ulfinna hin kenna.

³⁹ Kolbaa waaqa orma waaqonfatuun kushee diinaa ta kushee mara caalaa jaddu'uu hin lola; worra akka bulcha'aatitti isa fudhatuuf ulfinna gudda hin kenna; kolbaa dhibii hedduu irratti bulchitoota isaan hin godha; galata isaan isaaf godhaneef, lafa isaaniif hin qooda.

⁴⁰ «Barri yennaa geye mootiin kibbaa mootii kaabaa hin lola; mootiin kaabaalle garreettaa woraanaa ka fardaan harkifamu heddu'uun, abbootii fardaatii fi hoboloo heddu'uun akka hobonbolatti'ii itti ori'a. Akka lola'aa haxowaa biyya hedduu hin lola.

⁴¹ Inni lafa Israa'elii bisiltuulle hin lola; biyya hedduulle hin injifata; Edoom, Mo'aabii fi sooreyyiin Amoonii ammoo, harka isaa jalaa hin miliqan.

⁴² Inni biyya hedduu harka ifii jalatti hin bulcha; biyyi Gibxi'iille isa jalaa hin baatu.

⁴³ Worqi'ii meeti'ii, fi karra Gibxi'ii mara hin fudhata; worri Liibiya'aatii* fi Itoophiya'aa†, isaaf hin ajajaman.

⁴⁴ Oduun gara aduun baatuu fi gara kaabaa irraa dhuttu ammoo mootii kaabaa hin sodaachitti; inni kolbaa hedduu balleessiisaaf aarii guddoon hin baya.

⁴⁵ Inni abbaaya'aa fi gaara woyyicha dansaa wodhakka'atti dunkaanota mootummaa ifii hin dhaabbata; muummee irratti inni hin du'a; nami tokkolle isa hin qarqaaru» jedhe.

12

Bara Muumme'ee

¹ Ergamaan Waaqaa ka natti dubbate sun, «Yennaa san Mikaa'el sooressi guddichi kolbaa teeti eegu hin ka'a; achiin duuba haga gosi biyya adda addaa lafa irra jiraatteen jalqabee, farri guddoon teetee hin beenne hin

* **11:43** Liibiya: Afaan Ibrootaatiin *Fuxi* jedh. † **11:43** Itoophiya: Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali.

teeti; yennaa san ammoo kolbaan biyya teeti, worri maqaan isaanii kitaaba keessatti barreeffame dhaggame farra san jalaa hin bayan.

² Worri hedduun du'ee awwaalameeru, gariin jiruu bara baraatiif, gariin salphinna bara baraatiif hin ka'an.

³ Worri qarooleen akka ifa gubba'aa hin ifan; worri worra hedduu gara balchumma'aa deebise haga bara baraa akka urji'ii hin ifan.

⁴ «Ati ammoo Daani'el, haga bara muumme'eetitti, kitaaba san cufii chaappaa itti dhowiitii, dubbii tana dhossii qabadhu; worri hedduun beekkumsa ede'atiisaaf, asii fi achi hin daaqaan» jedhe.

⁵ Achiin duuba ani Daani'el ergantooti dhibiin lamaan tokko irga lagaa gamaan, kuun irga lagaa gamanaan dhaabbataneeranuun dhagge.

⁶ Isaan keessaa tokkochi ka woyaa quncee talba'aa irraa hujante uffatee, bisaan lagaatiin gubbaa dhaabbateeruun, «Wonni maade'ee kun yoom muummotti?» jedhe.

⁷ Ka woyaa quncee talba'aa irraa hujante uffatee, bisaan lagaatiin gubbaa dhaabbateeru sun, harka ifii gara ol-gubba'aa kaasee, maqaa Waaqa bara bara le'uutiin kakatee, «Woggaa sadiif gamisatti teeti; hunnaa kolbaa Waaqaa caccassiisi yennaa dhaabbattu wonni kun marti hin muummotti» jedhe.

⁸ Ani waan inni jedhe dhage'e; ammoo hin hubanne. Tanaaf, «Ee, Gootaa kiyya, wonni kun marti teeteen duuba maanti te'a ree?» jedhee gaafadhe.

⁹ Innille deebisee, «Daani'el, haga bara muumme'eetitti, dubbiin tun dhossa'aan qabantee, chaappaan itti waan dhowameeruuf, ati deem.

¹⁰ Worri hedduun qulluu te'anee, qulqulloomanee hin dhimbiibaman; worri hamooleen ammoo hammeenna irratti hammeenna hujan. Worra hamoolee keessaa tokkolle ka woy hubatu hin jiru; worri qarooleen ammoo hin hubatan.

¹¹ «Ciincaa guyyaa guyya'aan dhikaatu akka hafu godhane, farri badi'iille akka dhaabantu haga godhaneen jalqabee, guyyaa kuma tokkoo fi dhibba lamaaf sagaltam hin dabara.

¹² Guyyaa kuma tokkoo fi dhibba sadii soddonii shan, nami addatamumaan ture hin gammada.

¹³ «Atille Daani'el, haga muumme'eetitti ka addatante te'i; achiin duuba hin duuta; bara muumme'eetitti ammoo, qooda keeti fudhatiisaaf hin kaata» jedhe.

Kitaaba Hose'aa Raagichaa Seensa

Hose'aan raagichi dhaloota Kiristoosiitiin dura, woggaa dhibba torbaa fi diddamii tokkoo keessa, jinnana Semaariya'aatiin dura bara rakkinnaa keessa, raagicha Amosiin duuba, mootummaa Israa'elii ta kaabaa keessatti lallabe. Inni keessattuu marroo waaqa dharaa waaqonfatiisa kolba'aatii fi marroo addatama dhabiisa isaaniititti xiyyeeffate. Hose'aan addatama dhabiisa kolba'aa kana, fuudha ifii ka dubartittii addatama hin qanneen miidhassee mudhisa. Akkuma niitiin isaa Gomer isaaf hin addatanne, kolbaan Waaqaalle Mootii Waan Maraatiif hin addatanne. Waan kanaaf, muraan Israa'el irratti dhufu'uu jirti; te'uu malee, muummee irratti jaalalli Waaqaa ka bara baraa, ka inni kolbaa ifitiif qabu hin injifata; inni kolbaa ifii gara ifii deebifatee, tokkummaa adde'etti hin deebisa. Jaalalli kun jecha, «Israa'el, ani attam si gatu dande'a? Ani attam dabarsee si kennuu dande'a? Gadhaan kiyya tana mara akka ani godhu hin eeyyamu. Jaalalli ani si'iif qabu akka malee jaba'a» jedhuun himameera. (11:8)

Haadhoo Dubbi'ii

Fuudhaa Fi Maatii Hose'a'aa **1:1–3:5**

Ergaa Israa'elitti Dhutte **4:1–13:16**

Ergaa Cubbuu Faaci'atiisaatii Fi Addi'ii **14:1-9**

¹ Kun jecha Mootii Waan Maraa ka bara moototi Yihuda'aa: Uziyaan, Yotaam, Ahaazii fi Hisqiyaas tarre'etti biyya Yihuda'aa bulchanu, bara Yerobi'aamiin mootichi ilmi Yeho'aashiille biyya Israa'elii bulchu gara Hose'aa ilma Beerii dhufe.

Maatii Hose'a'aa

² Mootiin Waan Maraa yennaa karaa Hose'a'aatiin dubbatiisa jalqabe, Hose'aan, «Biyyi Mootii Waan Maraa lakkisiisaan waan sagaagalteef, dhaqii, niitii gaarayyeeffattuu fuudhiitii, ijoollee gaarayyeeffattuu akka isi'ii uumadhu» jedhe.

³ Maarre Hose'aan intala Diiblaayimii Gomer fuudhe; isiille ulfoottee ilma isaaf deette.

⁴ Mootiin Waan Maraa Hose'aan, «Sababa isaan Yizre'elitti dhiiga dhangalaasaneef, ani maatii Yehu'uu yennaa gabaadduu keessatti waan adabuuf, mootummaan Israa'eliille akka baddu waan godhuuf, maqaa isaa «Yizre'el*» jedhii baasi.

⁵ Guyyaa san ani dhooqa Yizre'elii keessatti guubee Israa'elii hin cassa» jedhe.

⁶ Gomer ammalle ulfoottee, intala deette; Mootiin Waan Maraa Hose'aan, «Ani hagonaa achi kolbaa Israa'eliitiif waan hin mararreef yookiin hin araaranneef, «Lo-Ruhaamaa†» jedhii maqaa baasi.

⁷ Kolbaa Yihuda'aatiif ammoo ani hin marara; guube'een, shallaaga'aan yookiin lolaan yookiin fardo'oo fi abbootii fardo'ootiin adoo hin te'in, ani Mootiin Waan Maraa, Waaqi isaanii isaan hin baasa» jedhe.

⁸ Gomer eega Lo-ruhaamaa harma irraa guuche, ulfoottee ammalle ilma dhibii deette.

* **1:4** Yizre'el: Afaan Ibrootaatiin *Waaqi hin bittinneessa* jechu'u. † **1:6** Lo-Ruhaamaa: Afaan Ibrootaatiin *Marartii hin dhagganne* jechu'u.

⁹ Mootiin Waan Maraa Hose'aan, «Kolbaan Israa'elii kolbaa tiyya waan hin te'iniif, anille Waaqa isaanii waan hin te'iniif, «Lo-Amii‡» jedhii maqaa baasi.

Israa'el Ade'etti Hin Deebiti

¹⁰ «Kolbaan Israa'elii akka maansa abbaayaa qarqaraa ka safaranee yookiin laakkowanee hin dandeennee hin teeti. Adduma, «Isaan kolbaa tiyyaa moti» jedhamanetti, isaan, «Ilmaan Waaqa jiraata'aa» jedhamanee hin waamaman.

¹¹ Kolbaan Yihuda'aatii fi kolbaan Israa'elii deebitee tokko hin teeti; soossa tokko hin filatti; guyyaan Yizre'elii guddaa waan te'eef, lafa ifiititti deebi'anee qananumma'aan hin le'an.

2

¹ «Maarre obboleeyyan teessan, «Kolbaa tiyya», obboleeyyan teessan ta durraalle, «Marartii» jedha'aa waama'a.

Adabamiisaa Fi Adde'etti Deebi'isa Israa'elii

² «Isiin haadha manaa tiyya waan hin teeneef, anille abbaa manaa isi'ii waan hin teeneef, ijoollee tiyya haadha teessan gorsa'a! Isii gorsa'a! Herrega gaarayyeeffataatii fi sagaagalaa lakkittuu ti.

³ Yoo akkas hin te'in, ani mulqee akka guyyaa dhalattee, qullaa isii hambura; akka goomole'ee, lafa godduu isii hin godha; dheebu'uun isii ijeesa.

⁴ Isaan ijoollee gaarayyeeffattu'uu waan te'aneef, ani ijoollee isi'ii hin mararu.

⁵ Haati isaanii gaarayyeeffattee, karaa salphinnaatiin isaan ulfootte. Isiin, «Ani worra midhaanii fi bisaan, woyaa liilanaatii fi woyaa quncee talba'aa irraa hujante, zayiti'ii fi untoo naaf kennanu, gaarayyoota tiyya gula deema» jette.

⁶ «Tanaaf, ani haxanxarii qore'eetiin karaa isi'ii hin cufa; akka isiin karaa baatu hin dhagganee, dalleya dhaka'aa itti ijaara.

⁷ Isiin gaarayyoota ifii gula fiiddi ammoo isaan hin dhaqqaddu; isaan hin barbaaddi ammoo hin dhaggitu. Achiin duuba, isiin, «Jiruu tiyya ta ammaa, jiruun tiyya ta durii waan caaltuuf, gara dhirsa kiyya ka durii deebi'a» hin jetti.

⁸ Isiin midhaan, daadhii woyni'ii o'itu'uu fi zayitii ejersaa ka isi'iif kenne, meeti'ii fi worqii isaan waaqa dharaa Ba'aaliif hujane, ka baceesse ana akka te'e hin beenne.

⁹ «Tanaaf, ani midhaan kiyya yennaa inni bilchaate, daadhii woyni'ii o'ituun tiyyalle yennaa isiin qophootte hin fudhadha. Woyaa liilanaatii fi woyaa quncee talba'aa irraa hujante tiyyalle akka isiin nafa qullaa ifitiin hin gollanne ani deebisee hin fudhadha.

¹⁰ Ani gaarayyoota isi'ii duratti mulqee, qullaa isii hambura. Harka kiyya keessaa ka isii baasu hin jiru.

¹¹ Ani jila isi'ii mara: jila isi'ii ka wogga'aa, ka baatii ji'aa, ka guyyaa Sanbataa, jila isi'ii ka addaa mara hin hambura.

¹² Muka woyni'iitii fi muka harru'uu ka isiin, «Gaarayyoota kiyyatti gatii naaf kenne» jettu san hin balleessa. Ani gongomaa isaan godha; bineensoti isaan hin nyaatan.

¹³ Guyyoota isiin waaqa dharaa Ba'aaliif hixaana aarsiteef, ani isii hin adaba; isiin qube'ee fi seesa naqattee, gaarayyoota ifii gula deentee, ana ammoo deete» jedhe.

Jaalala Gootaan Kolbaa Ifitiif Qabu

‡ 1:9 Lo-Amii: Afaan Ibrootaatiin Kolbaa tiyyaa moti jechu'u.

¹⁴ Mootiin Waan Maraa ammalle, «Tanaaf, ani amma isii hin sossobadha; gara goomole'ee isii geessee, jecha jaalalaa isi'itti hin dubbadha.

¹⁵ Achitti muka woyni'ii isi'iif hin deebisa; ani dhooqa Akorii* balbala addi'ii isi'iif hin godha; achitti akka guyyaa biyya Gibxi'ii keessaa baateetitti, akka guyyaa dargaggummaa ifiititti gammadaan hin faarfatti.

¹⁶ Guyyaa san «Dhirsaa kiyya» jettee na waanti malee, akka Ba'aalii waaqa ifii ka dharaa, «Goottaa kiyya» jettee waantu na hin waantu.

¹⁷ Akka isiin deebitee waaqota dharaa Ba'aal maqaa hin dhoonne hin godha.

¹⁸ «Guyyaa san ani bineensota, sinbirroota fi bineensota lafa irra munyuuqanu waliin gondoaroo hin godha. Martinuu nageyaan akka le'uuf, ani guube'ee fi shallaagaa, meya lolaa mara lafa irraa hin balleessa.

¹⁹ Ani haga bara baraa fuudhaaf si hawadadha; balchumma'aan, haqaan, jaalala bara baraatii fi mararti'ii fuudhaaf si hawadadha.

²⁰ Ani addatamumma'aan fuudhaaf si hawadadha; atille ana Mootii Waan Maraa hin beetta.

²¹ Yennaa san ani Mootiin Waan Maraa deebii hin kenna; ani ol-gubba'aaf deebii hin kenna; ol-gubbaalle lafaaf deebii hin kenniti.

²² Lattille midhaan, woyni'ii fi zayitii ejersaa kenniisaan Yizre'eliif deebii hin kenniti.

²³ Ani biyya keessatti kolbaa tiyya hin dhaaba; worra, «Lo-Ruhaamaa†» jedhee waame hin marara; worra «Lo-Amii‡» jedhee waame, «kolbaa tiyya» hin jedha. Isaanille, «Ati Waaqa keenaa» anaan hin jedhan» jedhe.

3

Hose'aan Niitii Ifii Waliin Araarame

¹ Ammalle Mootiin Waan Maraa anaan, «Kolbaan Israa'elii gara waaqota dhibi'ii deebitulle, midhaan woyni'ii gogaa ka waaqota dhibi'iif adda baye jaalattulle, akkuma ani Mootiin Waan Maraa isaan jaaladhu, atille dhaqiitii, ammalle niitii teeti gaarayyeeffattuu san jaaladhu» jedhe.

² Maarre ani meetii kudhanii shanii fi garbuu kiiloogiraama dhibba tokkoo fi shantamaatiin isii bitadhe.

³ Achiin duuba ani, «Adoo hin sagaagalin yookiin hin gaarayyeeffatin, yennaa hedduu na waliin le'i; anille akkasuma si waliin hin le'a» isi'ii jedhe.

⁴ Akkuma kana kolbaan Israa'elille mootii malee yookiin qondaaltota malee, ciincaa malee yookiin soodduu woyyittii malee, woyaa hayyumma'aa ta qomaa yookiin waaqa dharaa malee woggaa hedduu hin le'an.

⁵ Achiin duuba Israa'elooti deebi'anee, Mootii Waan Maraa Waaqa ifitii fi mootii ifii ka sanyii Daawitii hin barbaadan; bara muumme'ee soda'aan gara Mootii Waan Maraatiin fi gara eebba isaa hin deebi'an.

4

Israa'el Himatante

¹ Ee kolbaa Israa'elii, Mootiin Waan Maraa isin worra lafa tana keessa leetanu waliin dubbii waan qabuuf, jecha isaa dhage'a'a: «Addatamummaan hin jirtu; jaalalli bara baraa hin jiru; ana Waaqa beekuun lafa teessan keessa hin jirtu.

² Abaarsa, dhara, ijjeechaa, hanna fi gaarayyeeffata qofatti achi jira; wolii galtee mara diigan; dhiiga dhangalaasiis isaanii bacateera.

* **2:15 Akor:** Afaan Ibrootaatiin *Rakkoo* jechu'u. † **2:23 Lo-Ruhaamaa:** Afaan Ibrootaatiin *Marartii* hin dhaganne jechu'u. ‡ **2:23 Lo-Amii:** Afaan Ibrootaatiin *Kolbaa tiyyaa moti* jechu'u.

³ Sababa kanaaf, oolaan lafatti bu'a; wonni isii irra le'u marti hin du'an; bineensotii fi sinbirrooti, qurxummiin abbaaya'aalle hin dhumatan.

Hayyooti Himatamane

⁴ «Kolbaan teeti akkuma worra hayyoota himatuu san waan teeteef, nami dubbii hin kaasin; nami nama dhibii himatu hin jiraatin.

⁵ Isin halkanii fi guyyaa gufattan; raagotille isin waliin gufatan. Tanaaf, ani biyya teessan Israa'el hin balleessa.

⁶ Kolbaan tiyya beekkumsa dhabiisaan baddeerti; isin beekkumsa waan jibbitaneef, anille akka isin hayyoota naaf hin teene isin jibbe; isin seera ana Waaqa keessanii waan deetaneef, anille ijoollee teessan hin dedha.

⁷ «Akkuma hayyooti bacatte, cubbuun isaan na irratti hujanulle bacatte; ani ulfinna* isaanii salphinnatti hin jijjiira.

⁸ Isaan kennansa kolbaan tiyya sababa cubbu'uutiif kennitu nyaatan; akka kolbaan yakkaa baceessitee hujju fedhan.

⁹ Hayyootille akkuma kolba'aa ti; ani isaan lachuu hin adaba; hujii isaaniitiif gatii isaaniif hin kaffala.

¹⁰ Isaan hin nyaatan, ammoo hin quufanu; hin sagaagalan, ammoo hin horanu; isaan ana Mootii Waan Maraa lakkisane,

¹¹ sagaagalaaf, daadhii woyni'ii ta baatee fi ta hin bayin, ta hubantii kolbaa tiyya irraa fudhatteef ifi kennane.

¹² Kolbaan tiyya waaqota muka irraa hujame irraa gorsa gaafatti. Uleen mukaa deebii isaaniif kenniti. Ayyaanni sagaagalaa karaa irraa isaan gorsa; isaan Waaqa ifiitiif hin addatamanu.

¹³ Isaan qaccee gaarotaa irratti ciincaa ciincessan; koobota irratti, qilxaa jalatti, muka dafee guddatuu fi daandii jalatti, gaaddisi isaanii waan toluuf, kennansa gubamu dhikeessan.

«Tanaaf, ijoolleen durraa teessan sagaagalti; niitoti ilmaan teessaniille gaarayyeeffatti.

¹⁴ Ijoolleen durraa teessan yennaa sagaagaltu, niitoti ilmaan teessaniille yennaa gaarayyeeffattu, ani isaan hin adabu; sababille, dhiirtinuu sagaagaltoota gula deemaa, galma waaqota dharaatitti waliin ciincaa dhikeessan; kolbaan hubantii hin qanne hin baddi.

¹⁵ «Ee, Israa'el, ati gaarayyeeffattulle, Yihudaan akka keeti hin te'in. Giilgal hin dhaqina'a; gara Bet-Aweenii† ol hin bayina'a. «Dhugaa Mootii Waan Maraa ka jiraataa te'ee» jettaneelle hin kakatina'a.

¹⁶ Kolbaan Israa'elii akka goronsa jallichaa teeteerti. Mootiin Waan Maraa akka hoolota diida dansaa keessaa attam isaan tissa ree?

¹⁷ Kolbaan Israa'elii waaqota dharaatiin wolitti hidhanteerti. Itti lakkisa'a.

¹⁸ Yennaa untoo ifii fixatanulle, sagaagala ifiititti ka'an; bulchitooti isaanii salphinna kana guddoo jaalatan.

¹⁹ Hobonbolattiin haxoottee isaan fudhattee hin ideenti; ciincaan isaanii salphinna isaanitti hin fida.

5

Muraa Israa'elitti Murantu

¹ «Isin hayyoota, tana dhage'a'a! Isin Israa'eloota hubadha'a! Ee, maatii moototaa caqasa'a! Muraan tun isin irratti muranti; isin Miispha'atti tiyyoo, gaara Taaborii irralle'etti caccoo afante teetaneertan.

² Worri finqilaan ijjeecha'atti jabaataneeran. Ani isaan mara hin adaba.

* 4:7 *Ulfinna*: Ulfinni kun ka Waaqaa ti. waaqonfatanu.

† 4:15 *Bet-Aween*: Addee waaqota dharaa itti

³ Ani marroo Efreemotaa hin beeka; Israa'el na duraa dhokattee hin jirtu. Efreem, ati amma gara sagaagalaa deebiteerta; Israa'el battootteerti.

⁴ «Hujiin isaanii gara Waaqaa akka deebi'anuu isaan hin gootu. Sagaagalummaan yaada isaanii keessa jirti; isaan Mootii Waan Maraa hin beekanu.

⁵ Koorri Israa'elii isaanuma irratti dhugaa baya; Israa'elii fi Efreem cubbuu ifitiin gufatan; Yihudaalle isaanuma woliin gufata.

⁶ Isaan hoole'ee fi re'ee, loon ifiille fudhatanee Mootii Waan Maraa hin barbaadan; garuu inni isaan irraa waan adda bayeef, isaan isa hin dhagganu.

⁷ Isaan Mootii Waan Maraatiif waan hin addataminiif, ijoollee ormaaf uumaneeran; tanaaf amma jilti baatii ji'aa ta isaanii, isaanii fi fichaa isaanii hin balleessiti.

Yihuda'aa fi Israa'el Wol Lolan

⁸ «Giibe'aa keessatti tultullaa, Raamaa keessatti suusullee afuufa'a. Bet-Aween keessatti iyya lolaa kaasa'a. «Ee, kolbaa Beniyaaminii, isinitti dhufane» jedha'a

⁹ Guyyaa adabbi'ii Efreem duwwaa hin teeti; ani gosa Israa'elii oddu'utti dhugumaan waan te'uuf jiru lassiiisatti jira.

¹⁰ «Sooreyyiin Yihuda'aa akka worra meessaa dhiibuu te'aneeran; ani mufii tiyya akka lolaa bisaanii isaan irratti hin dhangalaasa.

¹¹ Efreem waaqota dharaa hordofiisa yaada waan qabuuf, cunqurfamee, muraan isatti dhutte.

¹² Ani Efreemiif akka qu'e'ee*, kolbaa Yihuda'aatiif akka shanto'oo hin te'a.

¹³ «Efreem dhibee ifii, Yihudaan madaa ifii yennaa dhagge, achiin duuba Efreem gara biyya Asoorii deebi'ee, qarqaarsa dhaggatiisaaf mootii gudidichatti ergate; inni ammoo dhibee isaanii fayyisuu, madaa isaaniille irraa balleessuu hin dandeenne.

¹⁴ Ani Efreemitti akka neenqaa, Yihudaalle'etti akka neenqa dardaraa hin te'a. Ani tatarsaasee kukkutee isaan biraa hin deema; fuudheelle hin deema; ka isaan baasu hin jiru.

¹⁵ «Haga isaan yakkaa ifii beekanutti, ani gara addee tiyyaa hin deebi'a. Isaaniille fuula kiyya hin barbaadan; isaan rakkinna ifii keessa akka malee na hin barbaadan» jedhe.

6

Cubbuu Faaci'ata Dhaba Kolbaa Israa'elii

¹ Kolbaan, «Kowa'a, gara Mootii Waan Maraa deebinaa! Isattuu nu kukkutee, isattuu nu fayyisa; isattuu nu madeessee, isattuu madaa teennaa hidha.

² Guyyaa lamaan duuba inni jiruu haareya nu keessa hin keya; akka fuula isaa dura leenu guyyaa sadiin duuba nu hin kaasa.

³ Kowa'a, Mootii Waan Maraa beennuu ti; isa beekiisaaf wodhaanuu ti. Inni akka boruu dayya'uu hin mudhata; akka bokkeya gannaa, akka bokkeya furmaataa ka lafa jiisuu gara keenna hin dhufa» hin jetti.

⁴ Mootiin Waan Maraa, «Ee Efreem, ani maan si godhu ree? Ee Yihuda'a, ani maan si godhu ree? Jaalalli keessan akka hurrii ganamaa ti; akka fixeensa ganamaa ka dafee baduu ti.

⁵ Tanaaf, ani karaa raagota tiyyaatiin isin kukkutee, jecha kiyyaan isin ijeese. Muraan tiyyalle akka balaqqeetti'ii isin irratti balaqqitte.

⁶ Ani ciincaa caalaa jaalala bara baraa, kennansa gubamu caalaa ana Waaqa beekiisa keessan barbaada.

⁷ «Isaan akkuma Addaamii gondoaroo diigane.

* 5:12 Qu'e'ee: Yookiin qooqqanna'aa yookiin barbaara'aa jedhamuu hin dande'ama.

⁸ Giil'aad qachaa namoota hamootaa, ka dhiigaan battowe.

⁹ Worri nama saamu akkuma riphee nama eegu, hayyootille goli'iin akka-suma godhan; isaan karaa Sheekem geessu irratti nama ijjeesaa, yakkaa fokkisiittuu hujan.

¹⁰ Ani Israa'el keessatti waan nafa nama shuguggeessu dhaggeera; Efreem achitti sagaagalee Israa'el battootte.

¹¹ «Kolbaa tiyya boojuu irraa yennaa deebisu, ee kolbaa Yihuda'aa, isinille yennaa itti haammantanu murteesseera.

7

¹ «Ani yennaa kolbaa Israa'elii fayyisuu barbaadutti, yakkaan kolbaan Efreemii, hammeenni Samaariya'aa hin mudhata; isaan sobaan hujan; hattuun mana cassitee seenti; saantuulle karaa irratti nama saanti.

² Isaan ammoo hujii isaanii hantuu tana mara akka ani qaabadhu hin yaadatanu; cubbuun isaanii isaan marsitee, yennaa mara fuula kiyya dura jirti.

Karoora Hamaa Mana Mootumma'aa Keessaa

³ «Isaan mooticha hammeenna ifitiin, qondaaltota dhara ifitiin gam-machiisan.

⁴ Isaan martinuu gaarayyeeffattoota, akka eelee ibidda irratti o'itee, ta nami daabboo bilcheessu bukoo sukkuumee haga isiin bukoottutti ibidda itti tuttuqiisa hin barbaachinnee ti.

⁵ Guyyaa jila mootii keennaa qondaaltoti machii daadhii woyni'iitiin fini-inane. Mootichille worra murgaameyyii woliin woli gale.

⁶ Isaan akka eelee finiintee ti; gadhaan isaanii isaan keessatti gubata; halkan guutuu aariin hin qabbanoottu; ganama akka boobe'a ibiddaa bobeetti.

⁷ «Isaan martinuu akka eelee'ee finiinaneeran; bulchitoota ifille fixa-neeran. Moototi isaanii marti jidde; isaan keessaa tokkolle qarqaarsa na hin gaafanne.

Israa'elii Fi Gosa Biyya Adda Addaa

⁸ «Kolbaan Efreemi gosa biyya adda addaa woliin wolitti makante; kolbaan Efreemii akka bixee gara hin galfaminii ti.

⁹ Ormi hunna isaanii nyaate; isaan ammoo hin hubanne; arriin isaan wowworaante; isaan ammoo hin qalbeeffanne.

¹⁰ Koorri kolbaa Israa'elii isaanuma irratti dhugaa baya; tun marti teetee ammoo, isaan gara ana Mootii Waan Maraa Waaqa ifii hin deebine.

¹¹ Kolbaan Efreemii akka saphaliisa hubantii hin qanne ka akkuma kasoo sobamuu ti; qara worra Gibxi'ii qarqaarsa gaafatan; achiin duuba gara worra Asoorii deebi'an.

¹² Yennaa isaan deemanu, ani tiyyoo tiyya isaanitti hin afa; akka sin-birre'ee gubba'aa gad isaan hin buusa. Marroo hujii isaanii hantu'uutiif wolde'a isaanii oddu'utti isaan hin adaba.

¹³ «Isaan na irraa waan goraneef, isaaniiif aanne'e! Isaan na fiqilane natti waan ka'aneef, badiin isaanitti dhuttuu ti! Ani isaan wodiisaaf barbaade; isaan ammoo dhara na irratti dubbatan.

¹⁴ Isaan tagee ifii irratti wiiccifatan malee, gadhaa tokkochaan gara kiyya hin iyyanu; isaan midhaanii fi daadhii woyni'iitiif wolitti dacha'an; na irraa ammoo hin fagaatan.

¹⁵ Ani leenjii isaaniiif kennee, isaan jabeessulle, isaan ammoo na irratti mala hamaa dhowan.

¹⁶ Isaan gara waan bu'aa hin qannee deebi'ane; isaan akka guubee qajee-latti daaya hin darbannee ti; sooreyyiin isaanii sababa dubbii hantuu ifitiif shallaaga'aan hin dhumatan. Waan kanaaf, worri biyya Gibxi'ii isaanitti hin murgan» jedha.

8

Israa'el Hobonbolattii Haammatti

¹ Mootiin Waan Maraa, «Tultullaa afaanitti keyadhu! Kolbaan tiyya gon-dooroo tiyya cassitee, seera kiyyalle waan mormiteef, diinni akka risa'aa kolbaa tiyya gubbaa mara.

² Israa'el, «Ee, Waaqa keenna, nuuti si beenna!» jettee gara kiyya iyyiti.

³ Ammoo waan dansaa jibbiteerti; diinni isii hin ari'a.

⁴ «Isaan eeyyama kiyya malee mootota moosifataneeran; adoo na hin gaafatin qondaaltota filataneeran. Lafa irraa badiisaaf, meeti'ii fi worqii ifitiin waaqota dharaa ifumaaf hujataneeran.

⁵ Ee worra Samaariya'aa, waaqa dharaa keessan ka jabbii fakkaatu gata'a. Aariin tiyya worra waan kana godhu irratti hin bobeetti; isaan haga yoomii qulqullummaa dhaban ree?

⁶ Israa'el keessatti, waaqa dharaa ka jabbii fakkaatu kana nama hujii harkaa beeku tokkotti huje malee, wonni Waaqaa moti; waaqi Samaariya'aa ka jabbii fakkaatu sun caccabee hin bututa.

⁷ Isaan qilleensa facaafatane, hobonbolattii haammatan. Midhaan fichaa isaanii mataa hin qabu; midhaanille hin buusu; yoo midhaan buuselle ormatti nyaata.

⁸ Kolbaan Israa'elii liqinfanteerti; gosa biyya adda addaa oddu'utti meya bu'aan hin qanne teeteerti.

⁹ Isaan akka harree diidaa qofi joonjane, gara worra Asoorii dhaqane; kolbaan Efreemii gatii kaffaltee jaalota godhatte.

¹⁰ Isaan gosa biyya adda addaa oddu'utti gatii kaffalane jaalota godhatan-ulle, ani amma wolitti isaan qabee isaan hin adaba; cunqursaa mootota hunnaameyyi'ii jalatti dadhabaa, dadhabaa hin ideeman.

¹¹ «Kolbaan Israa'elii ciincaa sababa cubbu'uutiif addee ciinca'aa bacaa hujjulle, addeen ciinca'aa sun addee cubbuu itti hujanu teete.

¹² Ani waan seera kiyya keessaa hedduu isaaniif barreesse; isaan ammoo waan san akka alaga'aatitti laakkowane.

¹³ Isaan kennansa ciinca'aa naaf dhikeessan; foon ciinca'aa hin nyaatan. Ani Mootiin Waan Maraa ammoo isaanitti hin gammanne. Ani amma ham-meenna isaanii hin qaabadha; cubbuu isaaniitiif isaan hin adaba; isaanille gara biyya Gibxi'ii hin deebi'an.

¹⁴ «Israa'el ka isii dade deetee, mana mootumma'aa ijaarratte; kolbaan Yihuda'aalle qachoota dalleya dhaka'aa qabu hedduu ijaarratte. Ani ammoo ibidda qachoota isaaniititti hin erga; ibiddi sunille kushee isaanii hin fixa» jedha.

9

Adabbii Israa'el Dhaqqaddu

¹ Ee Israa'el, ati Waaqa keeti irratti akka sagaagaltu'uu teeteerta; addee eeddumme'ee maratti gatii sagaagaltootaa waan jaalatteef, hin firinxiixin; akka gosi biyya adda addaa ilillittu hin ilillisin.

² Eeddumme keessatti midhaan, addee woynii itti cunfanu keessalle'etti woyniin hin dhaggantu; daadhiin woyni'ii haarettille hin jiraattu.

³ Isaan lafa Mootii Waan Maraa keessa hin turanu; kolbaan Efreemii gara biyya Gibxi'ii hin deebiti; biyya Asoorii keessalle'etti sagalee aadaa dhugeeffanna'aatiin qulqulluu hin te'in hin nyaatti.

⁴ Isaan dhibaayyuu daadhii woyni'ii Mootii Waan Maraatiif hin dhibaasanu; ciincaan isaanii isa hin gammachiittu; ciincaan akkasii sun isaaniif akka sagalee haqaqo'oo ti; ka sagalee san nyaatu marti batticha hin te'a; sagaleen tun isaanuma qofaaf hin teeti; Galma Waaqaa keessatti ciincaa te'iisa hin dandeettu.

⁵ Guyyaa jila teessan ta beekkantee irratti, guyyaa jila Mootii Waan Maraa irratti, maan godhu'uu jirtan ree?

⁶ Isaan badii jalaa bayanelle, Gibxi isaan wolitti hin qaddi; qachaa Memfiisiititti hin awwaalamana. Qabeenna isaanii ka meeti'ii raaqi irra hin dacha'a; dunkaanii isaaniille qoreettiin irra hin yaati.

⁷ Guyyaan adabbi'ii dhufeera; guyyaan mura'aa dhikaateera; Israa'el tana beettuu ti. Cubbuun teessan bacaa, yakkaan teessanille guddoo waan teeteef, raagichi akka gowwa'aa, nami ayyaana Waaqaatiin guutame akka maraata'aa laakkowameera.

⁸ Raagichi, Waaqa kiyya woliin nama kolbaa Efreemii eegu; te'uu malee karaa isaa mara irratti tiyyoon, mana Waaqa isaa keessalle'etti diinummaan isa eeddi.

⁹ Akkuma bara qachaa Giibe'aatitti te'e, isaan battummaa keessa lixane; Waaqi hammeenna isaanii hin qaabata; cubbuu isaaniitiif isaan hin adaba.

Sababa Cubbu'uutiif Waan Israa'elitti Dhufe

¹⁰ Mootiin Waan Maraa, «Ani yennaa Israa'el dhagge, akka nama goomolee keessatti unkuruura woyni'ii dhaggee ti; ani yennaa abbootii teessan dhagge, akka nama midhaan qaraa muka harru'uu irratti dhaggee ti. Isaan ammoo yennaa gara Ba'aal Phe'orii dhufane, waaqa dharaa fokkisiisaa saniif adda ifi baasane; akkuma waaqa dharaa ka jaalatanuu san battoolee te'ane.

¹¹ Ulfinni Efreemii akka sinbirre'ee ka'ee hin bada; deyiis, ulfoyiis, gadha'atti hafiis* hin jiraattu.

¹² Isaan yoo ijoollee guddifatanelle, ijoolleen isaanii tokkolle adoo hin hafin hin dhumatan. Yennaa ani isaan biraa deeme isaaniif aanne'e!

¹³ Ani kolbaa Efreemii akka qachaa Xiirrosii addee dansaa jiranuun dhagge. Amma ammoo kolbaan Efreemii ijoollee ifi worra qaluuf dhi-keessite» jedha.

¹⁴ Ee Mootii Waan Maraa, isaaniif kenni! Ati maan isaaniif kennita? Gadaamessa ulfi irraa bayuu fi harma gogaa isaaniif kenni.

Israa'el Irratti Muraa Mootii Waan Maraa

¹⁵ Mootiin Waan Maraa, «Sababa hammeenna isaanii ka Giilgal keessaatiif, ani achitti isaan jibbe; sababa hujii cubbittii isaaniitiif, ani mana kiyya keessaa oofee isaan hin baasa. Ani hagamaa achi isaan hin jaaladhu; sooressitooti isaanii marti finqiltoota.

¹⁶ Kolbaan Efreemii dhowante; hiddi isaanii goge; isaan midhaanille hin buusanu. Isaan yoo ijoollee uumatanelle, ani ijoollee isaan jaalatanu isaan duraa hin ijeesa» jedha.

Raagichi Marroo Israa'elii Dubbata

¹⁷ Waan isaan isaaf hin ajajaminiif, Waaqi kiyya isaan hin gata. Isaan gosa biyya adda addaa odduu worra daaqu hin te'an.

* **9:11** *Gadha'atti hafiis:* Kun tee'iisa xurii aadaa dubarti'ii ilaala.

10

¹ Kolbaan Israa'elii akka muka woyni'ii ka banqaaqee, midhaan bacaa busuu ti; isaan akkuma bacatane, addee ciinca'aa bacaa ijaarratane; akkuma latti isaanii tolte, soodduu woyyittii waaqa dharaalle seesanee hujane.

² Gadhaan isaanii sobaan guutameera; amma isaan yakkaa ifitiif adabbii fudhatuu qaban. Mootiin Waan Maraa addee ciinca'aa ta isaanii hin caccassa; soodduu woyyittii waaqa dharaa ta isaaniille hin balleessa.

³ Achiin duuba isaan, «Nuuti Mootii Waan Maraatiif ulfinna kenniisa waan dhanneef, mootii hin qannu; ammoo mootii adoo qabaannelle'ee maan nuu godhuu dande'a?» hin jedhan.

⁴ Isaan waadaa hedduu galaa, kakuu dharaa kakataa, wolii galtee godhatan. Tanaaf, akkuma shugunaan hadhaa ifi keessaa qaddu fichaa keessatti bacattee lattu, muraa isaan kennanu irratti moromaan hin bacatti.

⁵ Worri qachaa Samaariya'aa keessa le'u waaqa dharaa ka jabbii fakkaatu ka Bet-Aweenii hin sodaatan; isaafille hin bowan. Waaqi dharaa ka isaan ulfinna isaatiif firinxiixanu waan isaan duraa booji'ameef, hayyooti isaa, isaaf wiiccifatane hin bowan.

⁶ Waaqi dharaa ka jabbii fakkaatu sun gara biyya Asoorii geeffamee, mootii guddichaaf kennansa te'ee hin dhikaata. Kolbaan Efreemii hin salphatti; sababa waaqa dharaatiif hin fokkifatti.

⁷ Samaariya'aa fi mootiin isi'ii akka hoomacha bisaan irraa hin badan.

⁸ Addeen waaqonfanna'aa ta Bet-Aweenii, addeen Israa'el waaqota dharaa waaqonfatiisaan cubbuu itti hujju hin baddi; addee ciinca'aa ta isaanii san irratti qore'ee fi qumi'uuduun lattee hin golliti. Achiin duuba isaan gaarotaan, «Nu golla'a», koobotalle'een, «Nu irratti jiga'a» hin jedhan.

Mootiin Waan Maraa Muraa Israa'el Irratti Lallabe

⁹ Mootiin Waan Maraa, «Ee kolbaa Israa'elii, bara qachaa Giibe'aatii jalqadane cubbuu hujjane; achumatti itti jabaattane. Worra waan hantuu huju ka Giibe'aa keessaa lolli hin findhee ree?

¹⁰ Ani yennaa fedhe isaan hin adaba; marroo cubbuu dacha'aan hujanuuf, isaan adabiisaaf, gosi biyya adda addaa wolitti qabamanee isaan irratti hin ka'an.

¹¹ «Kolbaan Efreemii akka goronsa leenjifamee, midhaan dhowiisa jaalatuu ti; maarre ani morma kolbaa Efreemii dansaa san irra waanjoo keyee hin oofa. Yihudaan lafa qotuu qaba; Yaaqoobille lafa laaffisuu qaba.

¹² Ani, «Yennaan tun yennaa isin ana Mootii Waan Maraa barbaaddanu waan teeteef, haga ani dhufee balchummaa isin irratti dhangalaasutti, ifumaaf balchummaa facaafadha'a; midhaan jaalala bara baraa haammadha'a; lafa hin qotamin qota'a» jedhe.

¹³ Isin ammoo hammeenna facaafattanee, waan hantuu haammattane; midhaan dhara teessanii nyaattane. Hunna teessanii fi bacinna jannoota teessanii waan addattaneef,

¹⁴ akkuma mootichi Shalmaan guyyaa lolaa qachaa Bet-Arbeli balleesse, haadha ijoollee isi'ii waliin lafa irratti macalaasee, lolli kolbaa teeti irratti hin ka'a; kusheen teessan martille hin baddi.

¹⁵ Ee kolbaa qachaa Bet'elii, hammeenni keessan guddaa waan te'eef, isin irralle'etti akkasuma hin teeti. Guyyaan sun yennaa geye mootiin Israa'elii ijjumaa hin bada.

11

Jaalala Waaqi Israa'elii Qabu

¹ «Yennaa Israa'el ijoolle'ee,

- ani isa jaaladhe;
biyya Gibxi'ii keessalle'ee ilma kiyya waame.
- ² Irra caalaa ammoo ani kolbaa Israa'elii waame;
irra caalaa isaan na irraa fagaatane.
- Isaan waaqa dharaa Ba'aaliif ciincaa dhikeessanee,
fakki'iiifille hixaana aarsane.
- ³ Harka kolbaa Efreemii qabee daaddisee,
deemiisa ka barsiise ana;
isaan ammoo ka isaan fayyise
ana akka te'e hin beenne.
- ⁴ Ani wodaroo gadhi-laafummaa namaatiin,
hidhaansa jaalalaatile'een isaan harkise;
waanjo morma isaanii irraa fuudhee
gad jedhee isaan areere.
- ⁵ «Isaan gara kiyya deebi'uu waan didaneef, gara biyya Gibxi'ii hin
deebi'anuu ree? Worri Asoorii isaan hin bulchuu ree?
- ⁶ Shallaagaan qachoota isaanii keessa hin balaqqitti; dangaraa karra
dalleya isaanii kukkutte karoora isaanii hin balleessiti.
- ⁷ Kolbaan tiyya na irraa fagaatiisaaf murteeffatte; isaan Waaqa Ol Aanaa
yoo waammatanelle, ani karuma te'e maraanuu isaan ol hin qabu.
- ⁸ «Ee Efreem,
ani attam si lakkisuu dande'a ree?
Ee Israa'el,
ani attam dabarsee si kennuu dande'a ree?
Akka qachaa Aadimaa
ani attam dabarsee si kennuu dande'a ree?
Yookiin akka qachaa Zebo'iimii
ani attam si godhuu dande'a ree?
Gadhaan kiyya raafame;
Marartiin tiyya marti kakkaateerti.
- ⁹ Ani aarii tiyya ta bobeettu gad hin lakkisu;
deebi'ee Efreem hin balleessu;
ani Waaqa Woyyicha odduu teessan jiru malee, namaa moti;
ani mufi'in gara keessan hin dhufu.
- ¹⁰ «Isaan ana Mootii Waan Maraa hin hordofan;
anille akka neengaa dhangaa hin dhowa.
- Yennaa ani dhangaa dhowu,
ijoolleen tiyya hollataa karaa aduun seentu irraa hin dhufan.
- ¹¹ «Isaan hollataa akka sinbirrootaa biyya Gibxi'ii irraa,
akka saphaliisaa biyya Asoorii irraa hin dhufan. Anille mana isaaniititti
isaan hin qubachiisa;
- ¹² «Efreem dharaan, kolbaan Israa'elii sobaan na marsite; Yihudaalle ana
Waaqa Woyyicha addatamaa irratti ka'e.

12

- ¹ «Kolbaan Efreemii qilleensa tissiti; qilleensa karaa aduun baatuu ari'aa
oolti; dharaa fi hunnaan nama irratti ka'iisa baceessiti; Asoor woliin woliin
galtee gooti; gara biyya Gibxi'iille zayitii ejersaa ergiti» jedha.
- ² Mootiin Waan Maraa Yihudaa irratti waan ciicatu qaba; akka ideensa
isaatitti Yaaqoob hin adaba; akka hujii isaatitti gatii isaaf hin kaffala.
- ³ Inni gadaamessa haadha ifii keessatti jimuu obboleessa ifii qabe; yennaa
nama guddaa te'elle Waaqa woliin wodhaantoo qabate.

⁴ Ergamaa Waaqaa waliin wodhaantoo qabatee injifate; inni bowee akka fudhatama dhaggatu kadhate; Waaqi Bet'elitti itti mudhatee, achitti isa waliin dubbate.

⁵ Mootiin Waan Maraa Waaqi waan mara Dande'u maqaan isaa Mootii Waan Maraa ti.

⁶ Ati ammoo gara Waaqa keetii deebi'i; jaalalaa fi haqa eegi; yennaa mara Waaqa keeti eegadhu.

Jechoota Mura'aa Ka Dhibii

⁷ Daldalaan madaallii dharaatiin gurgurata; sobiisa jaalata.

⁸ Kolbaan Efreemii, «Nuuti dureeyyi'i; dureeyyi teeneerra; karra teenna tana mara waliin eennulle yakka'aa fi cubbuu nu keessatti hin dhaggu» jettee koorti.

⁹ Tanaaf Mootiin Waan Maraa, «Ani Mootii Waan Maraa Waaqa keessan, ka biyya Gibxi'ii keessaa isin baase. Akkuma dur guyyaa jila beekkantuu teessanii dunkaanii keessa leetanu, ammalle dunkaanii keessa akka leetanu hin godha.

¹⁰ «Ani raagotatti dubbadhee, mudhii bacaa isaanitti mudhise; karaa isaaniitiin mammaassa hedduulle mammaake.

¹¹ Qachaan Giil'aadii hama'aa motii? Kolbaan qachaa Giil'aadiille bu'aa hin qaddu! Isaan Giil'aad keessatti korommii ciincaa dhikeessanii motii? Addeen ciinca'aa ta isaanii akka tuulaa dhaka'aa ta fichaa qotame keessa jirtuu hin teeti» jedha.

¹² Yaaqoob gara biyya Aaramii baqate; Israa'el niitii dhaggatiisaaf namaaf tajaajile; gatii isi'ii kaffaliisaaf hoolee tisse.

¹³ Mootiin Waan Maraa raagicha ergee kolbaa Israa'elii biyya Gibxi'ii keessaa baase; karaa raagichaatiin isaan kunuunse.

¹⁴ Kolbaan Efreemii dhiiga kolbaa dhibii'ii dhangalaasiisaan akka malee Gootaa aarsite; Gootaan dhiiga dhangalaasane san mataa isaaniititti hin deebisa; tuffii isaaniitiifille gatii isaaniif hin kaffala.

13

Muraa Muummee Irratti Israa'elitti Murantu

¹ Yennaa kolbaan Efreemii dubbatte, namooti hollatane; isaan Israa'el keessatti saadamane. Ammoo isaan waaqa dharaa Ba'aal waaqonfatiisaan cubbuu hujanee du'ane.

² Ammalle isaan waaqota dharaa ka nami hujii beeku qarumma'aan huju, meetii ifii irraa hujiiisaan ittuma ede'anee cubbuu hujan; waaqoti dharaa sun martinuu hujii nama hujii harkaa beekuu ti. Isaan, «Waaqota dharaa kanaaf ciincaa dhikeessa'a» jedhan. Namooti waaqa dharaa ka jabbii fakkaatu kana sunqatan.

³ Tanaaf, isaan akka hurrii ganamaa ti; akka fixeensa bari'iin dafee bu'uu ti; akka hicaacee eeddummee keessaa qilleensi fudhatuu, akka aara karaa foddaatiin bayuu hin te'an.

⁴ Mootiin Waan Maraa, «Ani ammoo Mootii Waan Maraa Waaqa keessan ka biyya Gibxi'ii keessaa isin baase; isin ana malee Waaqa dhibii hin beettanu; ana malee fayyisaan hin jiru.

⁵ Ani goomolee keessatti, lafa o'a bobe'a keessatti isin eege.

⁶ Ani yennaa isaan areere, isaan quufane; isaan yennaa quufane, koora-nee na dedhane.

⁷ Ani akka neenqaa isaanitti hin dhufa; akka qeeransaa karaa cina'atti isaan hin gaada.

⁸ Akka doobbaa ilmoolee jalaa fudhatanee, ani isaan hin dhowa; goma isaanii cassee bana. Ani akka neenqaa isaan hin nyaadha; bineensi isaan hin bibixxila.

⁹ «Ee kolbaa Israa'elii, qarqaaraa keessan ka te'e, na irratti waan kaataneef, hin baddan.

¹⁰ Isin, «Mooti'ii fi qondaaltota nuuf kenni» jettaneertan; akka isin baasuuf, mootiin keessan meet ree? Qachoota keessan mara keessa bulchitooti teessan meet ree?

¹¹ Maarre ani aarii tiyyaan mootii isiniif kennee, mufii tiyyaan achii isa balleesse.

¹² «Yakkaan Efreemii kuufanteerti; cubbuun isaa galmeeffanteerti.

¹³ Akka dubartii deettuu ciniinsuun itti dhutti; inni ammoo mucaa qaro'oo moti. Guyyaan inni dhalatu yennaa gewu, gadaamessa keessaa hin baane.

¹⁴ Ani hunna addee worri du'e jiruu jalaa isaan hin baasuu ree? Du'a jalalle'ee isaan hin woduu ree? Ee du'a! Balaan keeti meet ree? Ee addee worri du'e jiru! Badiin teeti ta ati fiddu meet ree? Ani hagaraa achi kolbaa tana hin mararu.

¹⁵ Efreem obboleeyyan ifii oddu'utti midhaan yoo baaselle, qilleensi karaa aduun baatuu, Mootii Waan Maraa biraa, goomolee keessaa ka'ee hin dhufa; maddi hin maddu; baleessi hin goga; wonni gatii qabu marti mana kuusa'aa keessaa hin saamanti.

¹⁶ Kolbaan Samaariya'aa Waaqa ifii irratti waan kaateef, yakkaa ifitiif adabamuu qaddi; isaan shallaaga'aan hin du'an; daa'immaan isaanii lafatti dhowanee hin macalaasan; dubartoota isaanii ta ulfaalle gadhaa isaanii hin baqassan» jedha.

14

Eebba Dhaggatiisaaf Cubbuu Irraa Deebi'iisa

¹ Ee kolbaa Israa'elii, cubbuun teessan waan isin gufachiitteef, gara Mootii Waan Maraa Waaqa keessanii deebi'a'a.

² Jechoota kana isaan jedhiisaaf, fudhadha'aatii gara Mootii Waan Maraa deebi'a'a'a: «Cubbuu teenna mara nuu araaram! Galata dansaa afaan keen-naa akka dhikeessinu, mararti'iin nu fudhadhu.

³ Asoor nu baasuu hin dande'u; fardoo lolaa irra hin teennu; ijoollee haadhaa fi abbaa hin qanne si'iin marartii waan dhaggattuuf, nuuti ijjumaa deebinee waan harki keenna hujeen, «Waaqota keenna» hin jennu» jedha'aan.

Mootiin Waan Maraa Jiruu Haareya Israa'eliif Kenniisaaf Waadaa Gale

⁴ Mootiin Waan Maraa,
«Ani dhukkuba na irraa isaan fageessu irraa
isaan hin fayyisa;
aariin tiyya isaan irraa waan deebiteef,
ani akkasumaan isaan hin jaaladha.

⁵ Ani Israa'eliif
akka tiifu'uu hin te'a.
Isaan akka daraara'aa hin baqan;
akka hindheensa Libaanonii hidda gad hin naqatan.

⁶ Isaan quunxoo haareya hin baasan.
Akka muka ejersaa hin miidhagan;
fooleen isaanii akka hindheensa Libaanonii hin teeti.

⁷ Isaan deebi'anee gaaddisa kiyya jala hin boqatan.
Akka midhaanii hin latan;
akka muka woyni'ii hin daraaran;

akka daadhii woynii biyya Libaanonii gurra hin horatan.

⁸ Ee kolbaan Efreemii,
waaqota dharaa biraa
ani maan qaba ree?

Ka deebii isiniif kennu,
ka isin kunuunsu ana.

Ani akka muka yennaa mara bisiluu ti;
eebbifam keessan na biraa dhufa» jedha.

⁹ Nami qaroon waan kana hin hubata;
nami woy hubatu waan kana hin qalbeeffata;
karaan Mootii Waan Maraa qajeela'a;
balchooleen irra ideeman;
finqiltooti ammoo keessatti gufatan.

Kitaaba Yo'elii Raagichaa Seensa

Yo'eliin raagichi yoom akka lafa irra le'ee fi marroo dabarsii le'ii isaa wonni guddoon beekkamu hin jiru; te'uu malee kitaab isaa kun ka dhaggame dhaloota Kiristoosiitiin dura gara jaarraa shaneesso'oo yookiin arfeesso'ootitti, yennaa mootummaa mootii moototaa ta Faaresii akka te'e herregama; inni lafa Israa'eliititti yennaan hubiisi awwaannisaa fi caami badii guddoo fidu akka dhufu'uu jiru hima; wonni kun guyyaan dhufa Mootii Waan Maraa ka dhikaate akka te'e akka mudhittu dubbata; guyyaan Mootii Waan Maraa yennaa dhufu, Mootiin Waan Maraa fedhii isaa balchittii worra mormanu mara akka adabu itti dabalee dubbata. Raagichi, kolbaan cubbuu irraa akka deebitu waamicha Mootii Waan Maraa himiisaan, cubbuu irraa deebinaan, Mootiin Waan Maraa addee duriititti isaan deebisee akka isaan eebbisu hubachiisa. Raaga isaa keessatti guddoo ka mudhatu, waadaa Mootiin Waan Maraa dhiiraa fi dubartii, dargaggootaa fi jaarsoota, kolbaa ifii duudii irralle'etti Ayyaana ifii akka ergu ka himu.

Haadhoo Dubbi'ii

Hubiisa awwaannisaa 1:1–2:17

Waadaa adde'etti deebi'isaa 2:18–27

Guyyaa Mootii Waan Maraa 2:28–3:21

Hubiisa Awwaannisaa

- ¹ Jechi Mootii Waan Maraa ka gara Yo'elii ilma Phetu'elii dhufe kana:
- ² Isin jaarsoleen dhage'a'a!
Worri Yihudaa keessa jirtanu dhage'a'a!
Wonni akkasii kun bara keessan keessatti,
yookiin bara abbootii teessanii keessatti teetee beettii?
- ³ Waan kana ijoollee teessanitti hima'a;
ijoolleen teessanille ijoollee ifiititti,
ijoolleen isaaniille dhaloota dhufutti himanuu ti!
- ⁴ Ka ilmoolee awwaannisa irraa hafe,
awwaannisi dargageessi nyaate;
ka awwaannisa dargageessa irraa hafe,
awwaannisi gugurdaan nyaate;
ka awwaannisa gugurdaa irraa hafe,
korophiis nyaate.
- ⁵ Daadhiin woyni'ii waan isin irraa citteef,
isin worri machoottanu, dammaqa'aatii bowa'a!
Isinille worri daadhii woyni'ii untanu,
wiiccifadha'aa bowa'a!
- ⁶ Kolbaan hunnaameyyiin bandallaan biyya tiyya tinteerti;
ilkaan isaanii akka ilkaan neenqaa,
a'oon isi'ii akka a'oo neenqa dhala'aa ti.
- ⁷ Isaan woynii tiyya balleessane;
muka harru'uu kiyyalles mummurane;
quncee irraa quncisanee gatanee,
dameeleen addaattee hatte.
- ⁸ Akka intala durraa woyaa gaddaa uffattee,

- nami isii kadhatu waan du'eef boottuu,
isinille bowa'a!
- ⁹ Kennaan midhaaniitii fi daadhii woyni'ii
Galma Mootii Waan Maraa irraa citte;
tanaaf hayyooti Mootii Waan Maraa tajaajilanu
wiiccifatane bowan.
- ¹⁰ Fichaan duwwaa hafeera;
midhaan badeera;
muki woyni'ii gogeera;
muki ejersaalle qooreera;
tanaaf latti hin bootti.
- ¹¹ Qamadi'ii fi garbuun,
midhaan galfamu martinuu waan badeef,
isin qonnaan bultooti gadda'a!
Isin worri woynii dhaabulle bowa'a!
- ¹² Muki woyni'itii fi harru'uu qooreera;
muki rumaani'ii, muki meexxi'itii fi appilii,
muki ficha'aa duudiin gogeera;
gammadi ilmaan namaa badeera.
- ¹³ Kennaan midhaaniitii fi daadhii woyni'ii
ta Galma Waaqa keessaniitiif dhikeessitanu waan hin jirreef,
isin hayyooti woyaa gaddaa uffadha'aatii bowa'a!
Isin worri addee ciinca'aatitti tajaajiltanu, wiiccifadha'a!
Isin hayyooti Waaqa kiyaa tajaajiltanu
woyaa gaddaa uffadha'aatii halkan duudii bowa'a!
- ¹⁴ Laamaa woyyicha lassa'a!
Yaa'ii woyyittii waama'a!
Jaarsole'ee fi worra biyya san le'anuu mara,
Galma Mootii Waan Maraa Waaqaa keessaniititti wolitti qaba'a!
Gara Mootii Waan Maraalle iyya'a!
- ¹⁵ Anne'e! Guyyaan Mootii Waan Maraa dhikaateera!
Waaqi waan mara dande'u guyyaan inni badii fidu dhikaateera.
- ¹⁶ Sagaleen ila teenna duraa,
gammadii fi ililleessi Galma Waaqa keennaa keessaa,
ijjumaa badeera.
- ¹⁷ Sanyiin facaafante biyyee jalatti korondhatteerti.
Midhaan waan badeef, manni kuusaa duwwaera;
gootaraalle diigameera.
- ¹⁸ Loon marra waan dhabaneef, madhataa asii achi yaa'an;
hoolotille rakkatiissatti jiran.
- ¹⁹ Ee Mootii Waan Maraa! Marra diidaa ibiddi waan fixeef,
muka badda'aalle ibiddi waan gubeef,
ani gara keeti iyya.
- ²⁰ Maddi bisaanii isaan irraa waan gogeef,
marri diidaa isaan irraa waan gubateef,
bineensinuu gara keeti iyya.

2

Guyyaa Mootii Waan Maraa

- ¹ Xiyoonnitti tultullaa afuufa'a!
Gaara Xiyoonii woyyicha irratti

- qoonqoo dammassitu dhageessisa'a!
 Guyyaan Mootii Waan Maraa ariifatee waan dhufaaruuf,
 worri lafa san le'u marti hollatuu ti!
- ² Guyyaan sun guyyaa dukkanaatii fi dimimmisaa,
 guyyaa duumensaatii fi dukkana duuddu'uu ti;
 akka boruun dayya'ee gaara irra babadhatu,
 awwaannisi baca'aa fi hunnaamessi lafa guuta.
 Wonni waan kana fakkaatu tanaan dura hin teene,
 hagaraa achille ijjumaa hin teetu.
- ³ Dura isaanii ibiddi gubaa deema;
 duuba isaanille'een boobe'i gubaa deema;
 latti isaan bira hin geyin,
 oorroo Edenii fakkaatti;
 latti isaan bira dabarane ammoo,
 goomolee duwwaa fakkaatti;
 wonni isaan jalaa miliqu tokkolle hin jiru.
- ⁴ Isaan farda fakkaatan;
 akka farda lolaa gulufan.
- ⁵ Akka garreettaa fardaa hididdisaa,
 gaarota gubbaa utaan;
 akka ibidda huura gubuu,
 waan mara guban;
 akka loltoota jajjaboo lolaaf qophowanee,
 gogeessaan yaa'an.
- ⁶ Yennaa isaan dhaggite, kolbaan hin bararaxxi;
 fuulli namaa soda'aan shankallowa.
- ⁷ Akka duultotaa lolan;
 akka loltootaa dalleya yaabane daban;
 tarre'een gara duraa yaa'an;
 gara ifii yaa'anu irraa hin goranu.
- ⁸ Tokko tokkoon isaanii,
 tarre'een gara duraa yaa'an;
 woraanaa fi guubee diinaa caccassanee daban;
 wonni isaan dhooggu hin jiru.
- ⁹ Gara qacha'aa timan;
 dalleya qacha'aa irra fiigan;
 utaala mana yaaban;
 akka hattu'uu fodda'an seenan.
- ¹⁰ Latti isaan duratti hin tachooti;
 gubbaalle hin raafanti.
 Adu'uu fi jiin dukkanowan;
 urjootille ifiisa hin lakkisan.
- ¹¹ Mootiin Waan Maraa qoonqoo ifii ta akka mandiisu'uu
 loltoota ifii irratti dhageessisa;
 loltooti isaa attam attam heddu'u!
 Worri isaaf ajajamu bandalla'a;
 dhugumaan guyyaan Mootii Waan Maraa gudda'a;
 guddoo sodaachisaa waan te'eef,
 guyyaa san eentu dande'ee dhaabbata?
- ¹² Mootiin Waan Maraa, «Ammumaayyuu, gadhaa keessan tokkochoan,
 laamaan, bowaa fi gaddaan gara kiyya deebi'a'a!» jedha.
- ¹³ Gadda keessan mudhisiisaaf,

woyaa teessan tarsaasiis hin gewu;
 Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan arjaa, mararaa,
 mufi'iif ka hin ariifanne, ka jaalala bara baraa guddaa qabu,
 adabiisaafille ka hin ariifanne, waan te'eef,
 gara isaa deebi'a'a!

¹⁴ Akka wotoo, Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan
 mufii irraa deebi'ee,
 eebba ifii isiniif hin kenna fa'a.
 Isinille Mootii Waan Maraa Waaqa keessaniif,
 kennaa midhaaniitii fi daadhii woyni'ii hin dhikeessitan.

¹⁵ Xiyyoon keessatti tultullaa afuufa'a!
 Laama woyyicha lassa'a!
 Yaa'ii woyyittii waama'a!

¹⁶ Kolbaa wolitti qaba'aatii,
 yaa'ii woyyitti'iif qopheessa'a;
 jaarsolee waama'a;
 ijoolle'ee fi daa'immaan harmaalle wolitti qaba'a;
 waajibootinuu kolloo ifii lakkisanuu ti.

¹⁷ Hayyooti Mootii Waan Maraa tajaajilanu,
 seensuma Galma Waaqaatii fi addee ciinca'aa wodhakka'atti bowanuu
 ti.

Isaan, «Mootii Waan Maraa, kolbaa teeti marari;
 gosi dhibiin, «Waaqi keessan meet?» jedhiisaan,
 akka nu tuffatanuu fi qaanessanu hin godhin» jedhanuu ti.

Deebii Waaqi Kolbaa Ifitiif Kenne

¹⁸ Mootiin Waan Maraa lafa ifitiif hinaafee,
 kolbaa ifille marare.

¹⁹ Mootiin Waan Maraa kolbaa ifitiif deebisee,
 «Kunoo, ani midhaan, daadhii woyni'iitii fi zayitii ejersaa,
 haga quuttanutti isiniif hin kenna;
 ani haganaa achi,
 gosa biyya adda addaa oddu'utti
 akka qaanottanu hin godhu.

²⁰ Awwaannisa gara kaabaatii isinitti dhufe
 isin irraa fageessa;
 gara goomole'eetii fi gara lafa urmaa isin irraa hin oofa;
 ka dura yaa'u gara abbaayaa baya adu'uu,
 ka duuba yaa'u gara abbaayaa seensa adu'uu hin oofa.
 Achitti reeffi isaanii shamee hin ajowa.

Dhugumaan ani Mootiin Waan Maraa
 waan guddoo isiniif godheera.

²¹ «Ee lafa, hin sodaatin.
 ani Waaqi waan guddoo waan sii godheef,
 gammadii firinxiix!

²² Isinille bineensota hin sodaatina'a;
 marri itti bobbaatanu bisilee te'eera.
 Mukille midhaan buuseera;
 muki Harru'uutii fi muki woyni'ii midhaan bacaa buuseera.

²³ «Isin kolbaa Xiyyoonii!
 Mootii Waan Maraa Waaqa keessaniin

- gammada'aatii firinxiixa'a;
 inni yenna'aan,
 akkuma durii bokkeya dansaa
 ka duraatii fi duubaa isiniif kenneera.
²⁴ Eddummeen midhaaniin ta guutante hin teeti;
 daadhiin woyni'iitii fi zayitiin ejersaa
 addee itti cunfantu guuttee irraan dhangalaati.
²⁵ Bara heddu'uuf akka loltoota guddo'oo ka ani isinitti ergee,
 midhaan awwaannisi gugurdaan,
 korophiis, ilmooleen awwaannisaatii fi
 awwaannisi dargaggeeyyiin isin irraa fixane
 ani isiniif hin deebisa.
²⁶ Nyaattanee hin quuttan;
 ka waan baasaa hedduu isinii godhe
 ana Mootii Waan Maraa Waaqa keessan hin leellifattan;
 isin kolbaan tiyya hagamaa achi hin qaanottanu.
²⁷ Kolbaa tiyya! Ani akka odduu teessan jiru,
 Mootii Waan Maraa Waaqa keessan akka te'ee fi
 ana malee Mootiin Waan Maraa dhibiin akka hin jirre hin beettan.
 Haganaa achi kolbaan tiyya deebitee hin qaanottu» jedhe.

Guyyaa Mootii Waan Maraa

- ²⁸ Ani Mootiin Waan Maraa, «Kanaan duuba, Ayyaana kiyya
 nama mara irratti hin dhangalaasa;
 ilmaanii fi ijoolleen durraa teessan raaga hin dubbatan;
 jaarsoleelle oojjuu hin oojjatan;
 dargaggootille mudhii hin dhaggan.
²⁹ Yennaa san,
 ani tajaajiltoota tiyya dhiiraa fi dubartii irratti
 Ayyaana kiyya hin dhangalaasa.
³⁰ «Gubba'aa fi lafa irratti, waan baasaa,
 dhiigaa fi ibidda, duumensa aaraalle hin mudhisa.
³¹ Guyyaan Mootii Waan Maraa gudda'aa fi sodaachisaan
 adoo hin dhufiniin dura,
 aduun hin dukkanootti; jiin dhiiga hin uffata.
³² Worri maqaa Mootii Waan Maraa waamu marti hin fayya;
 akkuma ani Mootiin Waan Maraa jedhe,
 worri ani waame gaara Xiyoonii irratti,
 Yerusaalem keessalle'etti hafee hin fayya» jedhe.

3

Mootiin Waan Maraa Gosa Biyya Adda Addaatitti Hin Mura

- ¹ Mootiin Waan Maraa,
 «Bara sanii fi yennaa sanitti,
 boojuu Yihuda'aatii fi Yerusaalemii
 yennaa deebisu,
² gosa biyya adda addaa mara wolitti qabee,
 dhooqa Yoshaafaaxiititti* hin geessa;
 sababa isaan kolbaa tiyya Israa'el
 biyya ormaatitti bittinneessanee,

* **3:2** Yoshaafaax: Afaan Ibrootaatiin Mootiin Waan Maraa mure jechu'u.

- lafa tiyya qoqoodataneef,
achitti isaanitti mura.
- ³ Kolbaa tiyya ta booji'ante qoodamiisaaf,
hixaa buufataneeran;
ilmaan dhiiraa
dubartii woliin sagaagalaneef gatii kennanee,
ijoollee durraa daadhii woyni'ititti gurguratane
ittiin unane.
- ⁴ «Isin worri Xiirsoosii fi Sidoonii, adaala Filisxeemotaa keessa worri jirtanu maraayyuu, maan ana irraa qaddan? Ana haluu bayiisaaf teetanii? Yoo akkas teetanu te'e, ani hujii teessan ariifadhee mataa keessanitti hin deebisa.
- ⁵ Meeti'ii fi worqii tiyya, akkasuma meya kiyya ka gatii guddoo qabu fudhattanee galma keessan keessa keyattaneertan.
- ⁶ Namoota Yihuda'aatii fi Yersaaleemii biyyaa isaanii irraa fageessiisaaf, worra Giriikootaatiitti gurgurtaneertan.
- ⁷ Amma ani addee isin isaan itti gurgurtane san lakkisane akka ka'anuu isaan hin godha. Waan isin isaan gootane, anille isin hin godha.
- ⁸ Ani ijoollee teessan ta dhiiraatii fi ta durraa namoota Yihuda'aatiitti akka gurguramanu hin godha; isaanille dabarsanee namoota Saaba'aa, ka biyya fago'ootitti isaan hin gurguran.
- ⁹ «Lassii tana gosa biyya adda addaatiitti lassa'a;
lolaaf qophowa'a;
loltota kakkaasa'a;
loltoti teessan martinuu as dhikaatanee lolanuu ti.
- ¹⁰ Qottoo teessan shallaagaa,
haantuu teessan eboo tunsiiifadha'a;
nami dadhabaalle, «Ani jaba'a» jedhuu ti.
- ¹¹ Isin gosi biyya adda addaa duudiin,
dafa'aa baya'aatii,
dhooqatti wolitti dacha'a'a!» jedha.
- Ee Mootii Waan Maraa loltoota teeti gad ergi.
- ¹² Gosi biyya adda addaa martinuu ka'ane,
gara dhooqa Yoshaafaaxii dhaqanuu ti;
ani Mootiin Waan Maraa,
gosa biyya adda addaa ta adaala saniititti muriisaaf,
achi hin tee'a.
- ¹³ Hammeenni isaanii guddoo bacateera;
akka midhaan geye haantu'uun haamanu isaan haama'a;
akka unkuruura woyni'ii addee itti cunfanutti guutane dhiitanu dhi-
ita'a!
- ¹⁴ Guyyaan Mootiin Waan Maraa dhooqa mura'aa keessatti muru dhikaa-
teera;
tanaaf gumiin bindillaan dhooqa mura'aa keessatti wolitti qabanteerti.
- ¹⁵ Adu'uu fi ji'i hin dukkanowan;
urjootille ifa hin kennanu.
- ¹⁶ Mootiin Waan Maraa Xiyoona keessaa akka neenqaa dhangaa dhowa;
Yersaaleem keessalle'ee hin mandi'a;
gubba'aa fi latti hin raafaman;
Mootiin Waan Maraa ammoo kolbaa ifii Israa'eliif,
addee itti baqatanu kushee hin te'a;

Waaqi Kolbaa Ifii Hin Eebbisa

- 17 Tanaaf kolbaa isaatiin, «Ani Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan,
Waaqa keessan akka te'e hin beettan;
Gaara woyyicha kiyya Xiyyoon irra hin le'a;
Yerusaalemille qachaa woyyicha hin teeti;
ormi deebi'ee ijjumaa isii hin qabatu.
- 18 «Guyyaa sanitti gaarri duudiin muka woyni'ii hin uffata;
kooba irratti loon aanan mirganu hin dhaggaman;
lagi Yihudaa keessa jiru duudiin bisaaniin guutama;
Galma Waaqaa keessaa bisaan hin burqa;
dhooqa muka gololchaa[†] hin obaasa.
- 19 «Sababa namooti Gibxi'iitii fi namooti Edoomii Yihudaa irratti hammeen-
naan ka'anee,
biyya isaanii keessatti
dhiiga nama balleessaa hin qannee dhangalaasaneef,
biyyi Gibxi'ii goomolee hin teeti;
Edoomille goomolee ona hin teeti.
- 20 Ammoo biyya Yihuda'aa keessa kolbaan haga bara baraa hin leeti;
Yerusaalem keessalle dhalootaa haga dhalootaatitti hin leeti;
- 21 Haluu dur namoota Yihuda'aatii fi namoota Yerusaalemiitiif hin baasin
ture,
amma hin baasaaf.
Ani Mootiin Waan Maraa gaara Xiyyoonii irra hin le'a» jedheera.

[†] **3:18** Muka gololchaa: Afaan Ibrootaatiin *Shiixim* jechu'u.

Kitaaba Amosii Raagichaa Seensa

Biyyi «Israa'el» jedhantu mootummoota lamatti qoodante. Ta gara kaabaa «Israa'el» jedhanti. Ta gara kibbaa «Yihudaa» jedhanti. Amos muuxannoo raagiisaa hin qabu; barnoota raaga dubbatiisaalle hin qabu (7: 14). Mootiin Waan Maraa ammoo kolbaa Israa'elii ta mootummaa kaabaa keessa jirtuuf ergaa akka dabarsu yennaa isa erge, Amos ollaa ifii ka Yihudaa keessaa Teqo'aa lakkisee deeme. Inni achii ka'ee gara addee waaqonfannaa Israa'elootaa Bet'el dhage.

Kitaaba kana keessatti Amos dursee kolbaa adaala san jirtu morma; achiin duuba kolbaa Israa'elii keessattuu worra dureeyyii morma. Isaan kolbaa saamiisaaf, garba godhataneelle bulchiisaaf hunna guddoo qabaniyyu. Isaan keessaa nami hedduun Mootii Waan Maraatiin ala waaqota dharaa ka waaqonfatanu ka dhibii qabaatanulle Mootiin Waan Maraa akka isaan eegu addii itti godhataniyyu. Amos ammoo cubbuu ifii hujanee akka isaan adabamanu isaanitti himée,

«Waan hantuu jibba'a; waan dansaa jaaladha'a. Mootiin Waan Maraa kolbaa Israa'elii worra hafaneef hin marara fa'a te'aa, badhinna kora mura'aa maratti haqi akka dhidhatu hin godhina'a» jedhe.

Haadhoo Dubbi'ii

Kolbaan yakkaa ifitiif akka adabantu *1:1–3:2*

Badii Israa'eliitii fi Samaariya'aa *3:3–6:14*

Marroo adabamiisa Israa'elii, mudhii shan ta Amos dhagge *7:1–9:10*

Adde'etti Deebi'iisa Israa'elii *9:11-15*

¹ Bara Uziyaan Yihudaa irratti, ilmi Yeho'aashii Yerobi'aam Israa'el irratti mootii te'ane, tissitoota qachaa Teqo'aa keessaa tokko ka te'e Amos, tacho'iis lafaa adoo hin te'in woggaa lamaan duratti raagi inni marroo Israa'eliitiif raage ka asii gad jiru:

² Inni, «Mootiin Waan Maraa gaara Xiyoonii irraa hin harqa;
Yerusaalem keessalle'ee hin mandi'a;
kaloon tissitootaa hin goddi;
marri qaccee gaara Qarmelosii irraa hin qoora» jedhe.

Muraa Waaqaa Ta Worra Ollaa Israa'elii jiru Irratti Dhufu'uu Jirtu

Sooriya'atti

³ Mootiin Waan Maraa,
«Worri qachaa Damaasqo'oo korboo ilkaan sibiilaa qaddu
worra biyya Giil'aadii irra waan oofaneef,
anille marroo cubbuu kolbaan Damaasqo'oo itti deddeebitee hujjeetiif,
isaan hin adaba.

⁴ Maarre ani ibidda kushee jadduu Ben-Hadaadii mootichaa luxub godhu,
mana mooticha Hazaa'eliititti hin erga.

⁵ Ani danqaraa karra Damaasqo'oo hin caccassa;
kolbaa dhooqa Aween keessaatii fi
mooticha Bet-Edeenii hin balleessa;
worri Sooriya'aalle* booji'amanee
gara biyya Qiirii hin dhaqan» jedha.

⁶ Mootiin Waan Maraa, «Worri qachaa Gaaza'aa

* **1:5 Sooriyaa:** Bara durii Aaram jedhanti.

- kolbaa booji'ane mara
 worra Edoomiititti dabarsanee kenniisaan
 itti deddeebi'anee yakkaa waan hujaneef,
 ani isaan hin adaba.
⁷ Maarre ani ibidda kushee isi'ii luxub godhu
 dalleya dhaka'aa ka qachaa Gaaza'aatitti hin erga.
⁸ Ani worra qachaa Ashidoodii keessa le'uu fi
 mooticha Ashiqalonii hin balleessa.
 Ani worra qachaa Egroonii keessa le'u hin adaba;
 worri Filiisxiyaa keessatti hafane marti hin badan» jedha.

Xiirroositti

- ⁹ Mootiin Waan Maraa, «Worri qachaa Xiirroosii
 gondooroo obbolumma'aa diiganeef,
 kolbaa booji'ane mara
 worra Edoomiititti dabarsanee kenniisaan
 itti deddeebi'anee yakkaa waan hujaneef,
 ani isaan hin adaba.
¹⁰ Maarre ani ibidda kushee isi'ii luxub godhu,
 dalleya dhaka'aa ka qachaa Xiirroosiititti hin erga» jedha.

Edoomitti

- ¹¹ Mootiin Waan Maraa,
 «Worri Edoomii obboleeyyan ifii Israa'eloota,
 marartii malee shallaaga'aan waan ari'aneef,
 aariin isaanii yennaa mara isaan irratti waan bobeetteef,
 muftiin isaanii haga bara baraa waan teeteef,
 ani isaan hin adaba.
¹² Maarre ani ibidda kushee qachaa Bozra'aa luxub godhu,
 qachaa Temaaniititti hin erga» jedha.

Muraa Amoonitti Dhufu'uu Jirtu

- ¹³ Mootiin Waan Maraa,
 «Worri Amoonii meessaa biyya ifii badhifatiisaaf,
 gadhaa dubartii ulfaa ta worra Giil'aadii baqasiisaan,
 itti deddeebi'anee yakkaa waan hujaneef,
 ani isaan hin adaba.
¹⁴ Maarre ani ibidda kushee isi'ii, guyyaa lolaa iyya keessa,
 guyyaa bokkeya bubbe'ee, qilleensa jabaa keessa luxub godhu,
 dalleya dhaka'aa ka qachaa Raaba'aatitti hin erga.
¹⁵ Mootiin isi'ii, qondaaltota ifii woliin hin booji'ama» jedha.

2

Muraa Mo'aabitti Dhufu'uu Jirtu

- ¹ Mootiin Waan Maraa,
 «Worri Mo'aabii lafee mootii Edoomii
 haga daadhaa teetutti gubiisaan
 itti deddeebi'anee yakkaa waan hujaneef,
 ani isaan hin adaba.
² Maarre ani ibidda kushee qachaa Keriyotii luxub godhu,
 qachaa Mo'aabiititti hin erga;
 Worri Mo'aabii hogaa guddaa
 iyya lolaatii fi
 qoonqoo tultulla'aa keessa hin dhumatan.
³ Ani bulchaa isi'ii hin balleessa;

qondaaltota isi'ii mara
mootii isi'ii waliin hin ijjeesa» jedha.

Muraa Yihuda'atti Dhufu'uu Jirtu

- ⁴ Mootiin Waan Maraa,
«Worri Yihuda'aa seera kiyya didanee,
seerata kiyyalle waan hin eegatiniif,
waaqota dhara ka abbootiin isaanii ta durii
hordofatte hordofiisaan,
itti deddeebi'anee yakkaa waan hujaneef,
ani isaan hin adaba.
⁵ Maarre ani ibidda kushee qachaa Yerusaalemii luxub godhu,
qachaa Yihuda'aatitti hin erga» jedha.

Muraa Israa'elitti Dhufu'uu Jirtu

- ⁶ Mootiin Waan Maraa,
«Worri Israa'elii worra balchoota meeti'itti,
worra hiyyeeyyii kophee miilaatitti gurguratiisaan,
itti deddeebi'anee yakkaa waan hujaneef
ani isaan hin adaba.
⁷ Isaan mataa worra hiyyeeyyii'ii bukuu irratti irra sirban;
worra cunqurfameef muraa haqaa hin kennanu;
abba'aa fi ilmi dubartii takkaa waliin sagaagaliisaan
maqaa kiyya woyyicha batteessan.
⁸ Isaan addee ciinca'aa mara cinaa,
woyaa worra hiyyeeyyii liqaa kaffaluu hin dandeenne
irraa qabatane irra rafan.
Daadhii woyni'ii ta worra adabame
irraa fuudhane
mana Waaqa ifii keessatti unan.

⁹ «Ani worra Amoorotaa
ka akka muka hindheensaa dheeratanu,
ka akka muka qilxa'aa jabaatanu san
fuula isaanii duraa balleesse.
Midhaan isaan irraatii fi
hidda isaanii isaan jalaa balleesse.

¹⁰ «Ani lafa Amoorotaa isiniif kenniisaaf,
biyya Gibxi'ii keessaa isin baasee
woggaa afurtama lafa goomole'ee keessa isin sooresse.
¹¹ Ani ilmaan teessan keessaa raagota,
dargaggoota teessan keessaa
worra Waaqaaf adda baye isiniif kaaseera.
Ee kolbaa Israa'elii tun dhugumaa motii ree?
¹² Isin ammoo worra Waaqaaf adda baye
daadhii woyni'ii akka unanu gootanee,
raagotille raaga akka hin dubbanne ajajjane.
¹³ Maarre akkuma garreettaan midhaan ba'ateeru
waan isa jala jiru butuchu,
anille isin hin butucha.
¹⁴ Nami akka malee rukkisu duraa hin bayu;
worri jajjabi jabeenna ifii hin dhaban;
worri lolulle lubbuu ifii hamburatiisa hin dande'anu.
¹⁵ Worri guube'een lolu dura hin dhaabbatu;

loltooti rukkisuu dande'anulle duraa hin bayanu.
 Abbootiin fardaalle lubbuu ifii hin hamburatanu.
 16 Guyyaa san loltooti goototinu qullaa hin baqatan» jedha.

3

Raaga Israa'el Irratti Dubbatame

- 1 Ee kolbaa Israa'elii,
 dubbii Mootiin Waan Maraa
 isin worra biyya Gibxi'ii keessaa baase maratti
 dubbatu tana dhage'a'a!
- 2 Inni, «Ani kolbaa biyya lafaa keessaa isin callaa filadhe;
 tanaaf cubbuu teessan maraaf ani isin hin adaba» jedheera.
- 3 Nami lama woliin deemiisaaf adoo wolii hin galin
 karaa hin deemanii?
- 4 Neenqi gongomaa keessatti
 waan adansee nyaatu adoo hin dhaggin
 dhangaa hin dhowaa?
- Neenqi dardarri waan tokko adoo hin qabatin
 mandhee ifii keessaa hin gurura'aa?
- 5 Sinbirreen fonxoroo adoo itti hin afamin
 lafa irratti tiyyoo keessa hin seentii?
- 6 Tultullaan lolaa qachaa keessatti yennaa afuufamu,
 kolbaan hin sodaattuu ree?
 Mootiin Waan Maraa adoo hin eeyyamin
 wonni hantuun qacha'atti hin dhuttii ree?
- 7 Dhugumaan Gootaan, Mootiin Waan Maraa
 dhossaa jirtu tajaajiltoota ifii raagotatti adoo hin mudhisin
 waan tokkolle hin godhu.
- 8 Neenqa dhangaa dhowe,
 ka hin sodaanne eennu ree?
 Mootiin Waan Maraa eega itti dubbatte,
 ka raaga hin dubbanne eennu ree?

Badii Qachaa Samaariya'aa

- 9 Kushee jajjadduu Ashidoodiitii fi
 kushee jajjadduu biyya Gibxi'iititti lallaba'aatii,
 «Gaara Samaariya'aa irratti wolitti qabama'a;
 hogaa isii keessaatii fi
 cunqursaa odduu kolbaa isi'ii jiru ilaala'a» jedha'aan.
- 10 Mootiin Waan Maraa, «Isaan waan sirrii te'e
 attam akka hujanu hin beekanu;
 waan hunnaan nama irratti ka'anee
 saamaneen mana ifii guutatan» jedha.
- 11 Tanaaf Gootaan Mootiin Waan Maraa,
 «Diinni lafa hin qabata;
 kushee jajjadduu teessan diigee
 mana keessanille hin saama» jedha.
- 12 Mootiin Waan Maraa,
 «Akkuma tisseen afaan neenqaa irraa
 lafee lukaa lama yookiin gurra ciccitaa callaa buufattu,
 Israa'elooti Samaariyaa keessatti qaccee taqee ifii irra,
 Damaasqoo keessattille taqee gaggabaadduu ifii irra tee'anu,
 akkasuma hin hafan» jedha.

- ¹³ Goottaan Mootiin Waan Maraa Waaqi Waan Mara Dande'u,
«Tana dhage'a'aatii sanyii Yaaqoobii irratti dhugaa baya'a.
¹⁴ Guyyaa ani marroo cubbuu isaaniitiif Israa'eloota adabu,
addee ciinca'aa ta Bet'elii hin diiga;
gaafoti addee ciinca'aa
muramanee lafa harca'an.
¹⁵ Ani mana isaan yennaa gannaatii fi
yennaa bonaa keessa tee'anu mara hin diiga;
manni ilka arbaatiin seefamee ijaarame marti hin bada;
Galmi gugurdaalle barbadeeffamee bada» jedha.

4

- ¹ Isin dubartooti akka sa'oolee Baashaanii,
ta gaara Samaariya'aa irratti gabbattanee,
worra hiyyeeyyii ka cunqursitanu,
worra rakkataalle ka butuchitanu,
abbootii worra teessaniin,
«Daadhii nu'uuf fida'a!» ka jettanu,
jecha kana dhage'a'a!
² Goottaan Mootiin Waan Maraa
woyyummaa ifitiin kakatee,
«Guyyaan isin malxaqqo'oon
harkifantanu hin dhufa;
worri isin keessaa hafanelle
malxaqqoo qurxummi'iitiin hin harkifaman.
³ Tokko tokkoo keessan
gowa dalleya dhaka'aa ka fuula keessan duraatiin
harkisane gara gaara Hermoonii isin hin baasan» jedha.

Israa'el Baratiisa Didde

- ⁴ Goottaan Mootiin Waan Maraa,
«Ee kolbaa Israa'elii,
Bet'el dhaqa'aatii cubbuu huja;
Giilgaliille dhaqa'aatii cubbuu baceessa'aa huja'a;
guyyuma guyya'aan ciincaa,
guyyaa sad saditti
kudhan keessaa tokko dhikeessa'a.
⁵ Ee Israa'eloota,
wonni isin godhiisaaf jaalattanu tana waan teeteef,
daabboo uukoo qaddu irraa ciincaa galataa dhikeessa'a;
kennansa fedhii teessaniin kennitanuun
ifi jaja'aatii koora'a» jedha.
⁶ Mootiin Waan Maraa,
«Qachoota gugurdaa keessan mara keessatti
wonni afaaniin qaddanu akka hin dhagganne,
qachaa mara keessatti
sagaleen akka dhabantu ka godhe ana;
isin ammoo haga ammaa gara kiyya hin deebine.
⁷ Midhaan galfatiisaaf jiin sad adoo jiruu
bokkeya isin irraa dhoogge;
qachaa tokkotti bokkeenni akka roobu,
qachaa kaanitti bokkeenni akka roobuu hin dandeenne godhe.
Fichaan tokko bokkeya qaba;
fichaan dhibiin bokkeya dhabee goge.

- ⁸ Maarre namooti bisaan barbaadatiisaaf,
qachaa tokko irraa gara qachaa tokkoo joonjane;
te'uu malee unanee dheebuu bawuu hin dandeenne;
isin haga ammaa gara kiyya hin deebine» jedha.
- ⁹ Mootiin Waan Maraa,
«Ani yennaa hedduu gugguufa'aa fi shanto'oon
oorru'uu fi muka woyni'ii keessan balleesse.
Muka harru'uutii fi muka ejersaa keessan
awwaannisi nyaatee fixe;
isin ammoo haga ammaa gara kiyya hin deebine.
- ¹⁰ Ani balaa biyya Gibxi'iititti erge
isin irralle'etti erge.
Dargaggoota teessan shallaaga'aan ijjeesisee,
fardoota teessan akka booji'amanu godhe;
addee qubattanetti reeffi nama du'ee
akka isinitti ajowu godhe;
isin haga ammaa gara kiyya hin deebine» jedha.
- ¹¹ Mootiin Waan Maraa,
«Ani Sodoomii fi Gomoraa akkuma balleesse,
isin keessalle'ee garii balleesseera.
Isin keessaa gariin akka muka
ibidda bobe'u keessaa butamee ti;
isin ammoo haga ammaa gara kiyya hin deebine.
- ¹² Tanaaf, ee kolbaa Israa'elii
ani akkasuma isin irratti hin godha;
ani tana isin irratti waan godhuuf,
ee kolbaa Israa'elii, Waaqa keessan woliin
wol dhaggiisaaf qophowa'a» jedha.
- ¹³ Ka gaara huje,
qilleensalle ka dade,
ka yaada ifii namatti mudhisu,
ka ganama gara dukkanaatitti jijjiiru
ka gooroo lafaa irra ideemu,
maqaan isaa Mootii Waan Maraa
Waaqa Waan Mara Dande'u.

5

Kolbaan Israa'elii Araara akka Galtuuf Waammante

- ¹ Ee kolbaa Israa'elii wolaloo gaddaa ta ani marroo teessaniif dubbadhu
tana dhage'a'a:
- ² Israa'eliin akka durraa jiddeerti;
deebiteelle hin kaatu;
lafuma ifii keessatti gatante;
nami isii ol kaasulle hin jiru.
- ³ Gootaan Mootiin Waan Maraa,
«Qachaan guddichi Israa'elii ka loltoota kuma duula baase,
isaan keessaa loltoota dhibba qofatti isaaf hafa.
Qachaan loltoota dhibba duula baase,
isaan keessaa loltoota kudhan qofatti isaaf hafa» jedha.
- ⁴ Mootiin Waan Maraa kolbaa Israa'eliitiin,
«Ana barbaadadha'aatii, jiru'uun jiraadha'a!
- ⁵ Giilgal dhugumaan waan booji'antuuf,

- Bet'elille waan woy hin baaneef,
 Bet'el hin barbaadina'a;
 Giilgal hin dhaqina'a
 Bersheebaalle hin dhaqina'a» jedha.
- ⁶ Mootii Waan Maraa barbaadadha'aatii jiru'uun jiraadha'a;
 yoo akkas hin te'in
 inni kolbaa Israa'elii akka ibiddaa luxub hin godha;
 worra Bet'elille ibiddi hin fixa;
 nami isa irraa dhaanfulle hin jiru.
- ⁷ Worri haqa gara hadha'aatitti jijjiirtanu,
 dhugaalle ka lafatti gattanu isiniif aanne'e!
- ⁸ Urjoota, «Torbii*» jedhamanu ka dade,
 urjoota, «Sadee†» jedhamanulle ka dade,
 dukkana gara ifa guyya'aa,
 guyyaalle dukkaneessee gara halkanii ka jijjiiru,
 bisaan abbaaya'aa waamee,
 lafa irra akka lola'u ka godhu,
 maqaan isaa Mootii Waan Maraa ti!
- ⁹ Inni kushee jadduu hin bobeessa;
 qachaa guddaa dalleenni dhaka'aa jabaan itti ijaarame
 irralle'etti badii hin fida.
- ¹⁰ Isin badhinna mura'aatitti nama dhuga'aaf falmu jibbitan;
 nama dhugaa dubbatu tuffattan.
- ¹¹ Isin worra hiyyeeyyii cunqursitan;
 hunnaan akka isaan midhaan kennanu gootan.
 Tanaaf, isin dhakaa bocameen mana ijaarrattanulle,
 achi keessa hin leetanu.
 Isin muka woyni'ii ka isin gammachiisu dhaabattanulle,
 daadhii woyni'ii irraa hin untanu.
- ¹² Yakkaan teessan attam bacaa akka teetee fi
 cubbuun teessan attam attam guddoo akka teete
 ani hin beeka.
- Isin worra balchaa cunqursitanee,
 safuu irraa fudhattanee,
 worri hiyyeeyyiin badhinna kora mura'aatitti
 haqa akka hin dhagganee gootan.
- ¹³ Tanaaf barri hamaa waan te'eef,
 yennaa akkasiiitti nami qalbeeffataan
 cadhi hin jedha.
- ¹⁴ Isin jiru'uun akka jiraattanuuf,
 waan dansaa malee waan hantuu hin barbaadina'a.
 Achiin duuba akkuma isin jettanu
 Mootiin Waan Maraa
 Waaqi Waan Mara Dande'u
 isin waliin hin jiraata.
- ¹⁵ Waan hantuu jibba'aatii,
 waan dansaa jaaladha'a;
 badhinna kora mura'aatitti
 haqi akka jiraatu godha'a.
 Mootiin Waan Maraa Waaqi Waan Mara Dande'u

* **5:8 Torbii:** Afaan Ibrootaatiin *Paaldiyaas* jedhaman. † **5:8 Sadee:** Afaan Ibrootaatiin *Ooriyoan* jedhaman.

- kolbaa Israa'elii worra hafeef hin marara fa te'a.
¹⁶ Tanaaf Mootiin Waan Maraa Waaqi Waan Mara Dande'u,
 «Karaa mara irratti wiiccifati bowaa,
 woldeennaa kara'aa mara irratti
 iyyi farraa hin teeti.
 Qonnaan bultooti bowaaf,
 worri boochisulle wiiccifatiisaaf hin waamaman.
¹⁷ Oorruu woyni'ii mara keessatti wiiccifati bowaa hin te'a;
 ani isin adabiisaaf odduu teessan waan dabaruuf,
 tun marti isin irratti hin teeti» jedha.
¹⁸ Isin worri guyyaa Mootii Waan Maraa halchitanu isiniif aanne'e!
 Isin maaf guyyaa Mootii Waan Maraa halchitan?
 Guyyaan sun guyyaa dukkanaa ti malee
 ifaa moti.
¹⁹ Guyyaan sun akka nama neenqa duraa adoo dheetuu
 doobba'atti[‡] dhufuu,
 yookiin isa duralle'ee bayee
 mana ifiititti galee dhaaba manaa yennaa qabatu
 dhudhuufaan idduu ti.
²⁰ Guyyaan Mootii Waan Maraa sun ifa adoo hin te'in, dukkana
 dimma wililleettiin ifaa keessa hin jirree motii ree?
²¹ Mootiin Waan Maraa, «Ani jila teessan mara jibbee, tuffadhe;
 yaa'iin teessanille na hin gammachiittu.
²² Isin kennansa gubamuu fi
 kennansa midhaanii naaf dhikeessitanulle,
 ani hin fudhadhu.
 Horii gagabbaa kennansa tokkumma'aatiif dhikeessitanulle,
 ani hin ilaalu.
²³ Iyya faaruu teessanii na irraa fageessa'a;
 ani yoyyoma kiraara guddicha keessanii hin caqasu.
²⁴ Ammoo haqi akka bisaan lagaa,
 balchummaalle akka madda hin gonnee lolaatu ti.
²⁵ «Ee kolbaa Israa'el,
 woggaa afurtama goomolee keessatti
 isin ciinca'aa fi kennansa
 naaf dhikeessitaneertanii ree?
²⁶ Waan ifumaaf hujjane,
 mootii keessan waaqa dharaa, ka, «Saakuut» jedhamuu fi
 waaqa dharaa ka fakkii urji'ii, ka «Kiiyoon» jedhamu ba'attan.
²⁷ Tanaaf ani qachaa Damaasqo'oo irraa fagaattanee
 akka isin booji'antanu hin godha» jedha;
 maqaan isaa Mootii Waan Maraa Waaqa Waan Mara Dande'u.

6

Adabamiisa Israa'elii

- ¹ Worri Xiyyoon keessa qananumma'aan leetanu,
 ka bidhaa malee gaara Samaariya'aa irra teettanu,
 worri kolbaan Israa'elii qarqaarsa dhaggatiisaaf
 gara keessan dhufanu,
 isin qondaaltoti gosa

[‡] 5:19 *Doobbaa*: Bineensa hamaa iyyaa fakkaatu.

- worra gosa biyya adda addaa taan ka caaltanu
 worri ifi seetanu
 isiniif aanne'e!
- ² Gara qachaa Kaalnee dabara'aatii ilaala'a;
 achille'ee gara qachaa guddaa, «Haamaat» jedhamuu dhaqa'a;
 achiin duuba gara qachaa Filisxeemotaa
 gara qachaa Gaatii gad bu'a'a.
- Isaan mootummoota teessan lamaan hin caalanuu ree?
 Yookiin latti isaanii lafa teessan caalaa hin badhattuu ree?
- ³ Isin guyyaa hamaa akka fagaatu gootanee,
 bulchiinsa hunnaa akka dhikaatu gootan.
- ⁴ Isin taqee ilka arbaatiin seefante irra rattan;
 taqee gaggabaadduu irra balxiixxan.
 Hoolee keessaa foon buruusotaa,
 loon keessaa foon jabbi'ii nyaattan.
- ⁵ Isin kiraara guddicha hin qanya'aminiin sirbitan;
 akka Daawitiille meya faaru'uutiin faarfatiisa barbaaddan.
- ⁶ Isin daadhii woyni'ii okkote'een untan;
 fiqiree, fiqiree mara caaltu dibattan malee,
 badii sanyii Yoseefii irra geettuuf hin gadditanu.
- ⁷ Tanaaf isin worra booji'amu keessaa ka qaraa hin teetan;
 fexxeessi keessanii fi
 dalaqiis* keessan hin hafan.
- ⁸ Gootaan Mootiin Waan Maraa, Mootiin Waan Maraa Waaqi Waan Mara
 Dande'u, ifiin kakatee,
 «Koora kolbaa Israa'elii jibbeera;
 kushee isi'iille diqadheera;
 tanaaf qachaa isaaniitii fi
 waan qachaa keessa jiru mara
 diinotaaf dabarsee hin kenna» jedheera.
- ⁹ Mana tokko keessatti nami kudhan yoo hafe, isaanille hin du'an.
- ¹⁰ Firri aanti'ii ka nama du'ee sun mana keessaa fuudhee reeffa awwaali-
 isaaf yoo dhufe, nama mana keessatti dhokateeruun, «Nami dhibiin si woliin
 jiraa?» jedhee gaafata; nami sunille, «Hin jiru» jedhee deebisa; nami fira
 aanti'ii sunille, «Cadhisi! Maqaa Mootii Waan Maraa dhowuu hin qannu» hin
 jedha.
- ¹¹ Mootiin Waan Maraa waan ajajeef,
 manni gugurdaan hurbamanee hin diigaman;
 manni didiqqaalle bubbututee hurraa hin te'an.
- ¹² Fardooleen rassaa irra hin gulufanii ree?
 Nami tokko qotiyyo'oon achi irra hin qotaa ree?
 Isin ammoo haqa gara waan hadhowuutitti,
 hujii balchumma'aalle gara hammeennaatitti jijjiirtane.
- ¹³ Isin worri qachaa, «Lodbaar†» jedhamu
 qabatane firinxiixxanu,
 ka qachaa, «Karnaayim‡» jedhamu
 jabeenna keennaan fudhanne jettanu,
- ¹⁴ Mootiin Waan Maraa Waaqi Waan Mara Dande'u,
 «Ee kolbaa Israa'elii,
 ani kolbaa takka isin irratti hin kaasa;

* **6:7** Dalaqiis: *Yookiin bashannaniis yookiin ashalaqiis* † **6:13** Lobdaar: *Afaan Ibrootaatiin Waan
 bu'aa hin qanne jechu'u.* ‡ **6:13** Karnaayim: *Afaan Ibrootaatiin Gaafa jechu'u.*

kolbaan sunille gara Kaabaatiin
seensuma qachaa Haamaatii irraa jalqaddee,
gara kibbaatiin haga dhooqa Arabaatitti isin hin cunqursiti» jedha.

7

Awwaannisa, Ibiddaa Fi Tumbii

- ¹ Kun waan Goottaan Mootiin Waan Maraa natti mudhise:
Midhaan mootichaa haammamee galeen duuba,
haaga'een yennaa lattu
Mootiin Waan Maraa awwaannisa buuse.
- ² Awwaannisi marra lafa irraa nyaatee yennaa fixe,
ani, «Ee Gootta'a Mootii Waan Maraa,
maganne'e Israa'eliif araaram;
Israa'el hunna waan hin qanneef,
attam waan kana irraa hafuu dandeetti ree?» jedhee daadimadhe.
- ³ Maarre Mootii Waan Maraa marroo waan kanaa gaabbee,
«Tun hin teetu» jedhe.

Mudhii Ibiddaa

- ⁴ Tun waan Goottaan Mootiin Waan Maraa natti mudhise: Goottaan
Mootiin Waan Maraa ibidda mura'aa waame; ibiddi sun abbaayaa qile'ee
gossee lafa luxub godhe.
- ⁵ Achiin duuba ani, «Ee Gootta'a Mootiin Waan Maraa,
ibidda kana akka dhaamu godhi;
Israa'el hunna waan hin qanneef,
attam ibidda kana irraa hafuu dandeetti ree?» jedhee daadimadhe.
- ⁶ Maarre Mootiin Waan Maraa
marroo waan kanaa gaabbee, «Tun hin teetu» jedhe.

Mudhii Tumbi'ii

- ⁷ Mootiin Waan Maraa mudhii dhibii natti mudhise:
Kunoo Mootiin Waan Maraa tumbii qabatee,
dalleya dhaka'aa ka tumbi'iin qajeelfame
ijaarsa bira dhaabbateeraayyu.
- ⁸ Inni anaan, «Amos!
Maan dhaggiisatti jirta?» jedhee na gaafate.
Anille, «Tumbii dhaggiisatti jira» jedheen.
Achiin duuba Mootiin Waan Maraa,
«Kunoo, ani tumbii kolbaa tiyya Israa'el odduu hin keya;
haganaa achi ani adoo isaan hin adabin
irra hin dabaru.
- ⁹ Addeen waaqonfanna'aa ta Yisihaqii hin baddi;
addeen woyyittiin Israa'eliille hin diiganti;
sanyii Yerobi'aamii mootichaa irratti
ani shallaagaa kiyyaan hin ka'a» jedhe.

Amosii fi Amaasiyaas

- ¹⁰ Achiin duuba hayyichi Bet'elii Amaasiyaas,
gara Yerobi'aamii mootii Israa'elii ergaa ergee,
«Kunoo Amos kolbaa Israa'elii oddu'utti
mala si'itti dhowiisatti jira;
waan inni dubbatiisa jiru
latti tun ba'atiisa hin dandeettu.
- ¹¹ Inni, «Yerobi'aam shallaaga'aan hin du'a;
kolbaan Israa'eliille dhugumaan biyya ifitii

- booji'antee hin ideenti» jedha» jedheen.
- ¹² Achiin duuba Amaasiyaas Amosiin,
«Ee ati nama mudhii dhaggitu,
gara biyya Yihuda'aa baqadhuu asii deemi;
achitti raaga dubbataa,
sagalee ittiin nyaadhu.
- ¹³ Bet'el addee woyyittii mootichi itti sagadu,
Galma Waaqaa ka mootumma'aa waan teeteef,
addee tanatti deebitee raaga hin dubbatin» jedheen.
- ¹⁴ Amosille deebisee Amaasiyaasiin,
«Ani nama horii tissaa,
muka harru'uulle kunuunsu malee
raagichaa moti
yookiin ilma raagichaalle'ee moti.
- ¹⁵ Mootiin Waan Maraa ammoo
addee ani horii tissuu na fuudhee,
«Dhaqiitii kolbaa tiyya Israa'elitti
raaga dubbadhu» naan jedhe.
- ¹⁶ Ammalle ati
jecha Mootii Waan Maraa dhage'i;
ati, «Israa'el irratti raaga hin dubbatin;
kolbaa Israa'elii
sanyii Yisahaqiititti hin lallabin!»
naan jetteerta.
- ¹⁷ Tanaaf, Mootiin Waan Maraa,
«Haati manaa teeti qachaa keessatti
sagaagaltittii hin teeti;
ilmaan teetii fi durri teeti
shallaaga'aan hin du'an.
- Lafa teeti wodaro'oon mikanee hin goodaman;
atile lafa worra Yihudoota hin te'inii keessatti hin duuta;
kolbaan Israa'elille dhugumaan biyya ifiitii booji'antee
hin ideenti» jedha» jedhe.

8

Saaxaraa Midhaan Bilchaate Keessa Jiru

- ¹ Gootaan, Mootiin Waan Maraa,
mudhii dhibii natti mudhisee
kollonjoo midhaan bilchaate keessa jiru takka dhagge.
- ² Inni, «Ee Amos maan dhaggiisatti jirta?» naan jedhe;
anille deebisee, «Kollonjoo midhaan bilchaate keessa jiru takka» jedheen.
- Achiin duuba Mootiin Waan Maraa,
«Kolbaan tiyya Israa'el dhumatiisa geetteerti;
haganaa achi ani adoo isaan hin adabin irra hin dabaru.
- ³ Faaruun Galma Waaqaa keessaa
gara bowaa hin jijjiiranitti;
reeffi namaa hin bacata;
addee maralle'etti hin gatama.
Cadhi hin jedhan» naan jedhe.

Jinnana Israa'elii

- ⁴ Isin rakkataa irra worri sirbitanu,
hiyyeeyyii lafa irraa worri balleessitanu,

- tana dhage'a'a!
- ⁵ Isin, «Midhaan akka gurgurannuuf,
jilti baatii ji'aa yoom dabarti?
Qamadii dikkoo akka geeffannuuf,
waan itti safarru diqqeessinee
gatii guddo'otti akka gurguranu,
madaallii sobaalle'een
midhaan akka gurgurannu
Sanbati yoom dabara?
- ⁶ Silaa worra hiyyeeyyii meeti'in,
worra rakkataa kophee miilaatiin
hin bitannaayyu.
Qamadii huura qaddulle
hin gurgurannaayyu» jettan.
- ⁷ Mootiin Waan Maraa
ulfinna ifii ka Yaaqoobiin jajatuun kakatee,
«Ani hujii isaan hujane mara hin dedhu» jedheera.
- ⁸ Waan kanaan latti tachoottee,
worri isii keessa le'u marti hin bowanuu ree?
Latti duudiin akka Laga Nayilii ol kaatee,
akka bisaan laga Gibxi'ii
ol faca'ee gad deebi'u hin teetuu ree?
- ⁹ Gootaan Mootiin Waan Maraa,
«Guyyaa san aduun saatii jaatti
akka seentu hin godha;
ifa guyya'aa keessa
latti akka dukkanoottu hin godha.
- ¹⁰ Jila teessan ta wogga'aa gara gaddaatitti,
faaruun teessan gara bowaatitti hin jijjiira.
Ani akka isin woyaa gaddaa uffattanu,
mataa keessanille akka haadattanu hin godha.
Akka bowa worra ilmi tokkochi qabanu irraa du'ee,
dhuma guyyaa sanii ka hadhowe hin godha» jedheera.
- ¹¹ Gootaan Mootiin Waan Maraa,
«Kunoo barri ani lafa tana irratti beela fidu hin dhufa;
beelti sun ta namooti jecha Mootii Waan Maraa
dhage'iisa dhabanee beelotanu malee,
beela sagale'ee yookiin dheebuu bisaaniitii moti.
- ¹² Namooti jecha Mootii Waan Maraa barbaadatiisaaf,
abbaayaa takka irraa gara abbaayaa taanii,
kaaba irraa gara kibbaa hin joonjan;
isaan ammoo isa hin dhagganu.
- ¹³ «Bara san durri shashaggoole'ee fi
dhiirti dargaggooti jajjab dheebotanee hin gaggaban.
- ¹⁴ Worri waaqa dharaa ka Samaariyaa keessaatiin kakatu,
yookiin ka, «Ee, Daan*, dhugaa waaqa jiraata keetii» jedhu
yookiin ka, «Dhugaa waaqa Bersheeba'aa» jedhu,
isaan hin jigan; deebi'aneelle hin ka'anuu» jedha.

* **8:14 Daan:** Addee kolbaan Israa'elii waaqa dharaa ka jabbii worqii irraa hujante itti waaqonfattu.

9

Badii Israa'elii

- ¹ Ani Goottaan addee ciinca'aa bira dhaabbateeruun dhagge;
innille, «Hundeen akka raafamu
guutuu utuboota Galma Waaqaa dhowiitii
mataa namootaa irratti caccassi.
Worra kana irraa hafane ani shallaaga'aan hin ijjeesa;
isaan keessaa eennulle dande'ee hin dheetu;
ka jalaa miliqu hin jiru.
- ² Isaan qotatanee gara qilee addee worri du'e jiruulle
yoo gad bu'ane,
harki kiyya achi keessaa isaan hin baasa;
gara ol-gubba'aa yoo bayanelle,
ani achille'ee gad isaan hin buusa.
- ³ Gaara Qarmelosii gubba'atti yoo dhokatanelle,
ani achi irra isaan barbaadee
qabee gad isaan hin buusa.
Abbaayaa jalatti yoo na dhokatanelle,
achitti dhudhuufaan akka isaan iddu hin ajaja.
- ⁴ Booji'amanee diinota ifitiin yoo deemanelle,
achitti isaan qaliisaaf shallaagaa hin ajaja;
dansa'aaf adoo hin te'in,
ila hantu'uun isaan hin ilaala» jedha.
- ⁵ Goottaan Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dande'u,
lafa hin tuqa;
isiin hin baxxi;
worri isii irra le'u marti hin bowa;
latti marti akka Laga Nayilii ol hin kaati;
achiin duuba akka bisaan laga Gibxi'ii gad deebiti.
- ⁶ Ka mana ifii ol-gubba'atti ijaare,
hundee mana sanii lafa irratti ka hundeesse,
ka bisaan abbaaya'aa waamee,
lafatti lolaasu
maqaan isaa Mootii Waan Maraa ti.
- ⁷ Mootiin Waan Maraa, «Ee kolbaa Israa'elii,
isin naaf akkuma kolbaa Itoophiya'aatii* motii ree?
Ani akkuma Israa'eloota biyya Gibxi'ii keessaa baase,
worra Filisxeemotaa biyya Kaftorii keessaa,
worra Sooriya'aalle biyya Qiiirii keessaa ka baasee motii ree?.
- ⁸ Dhugumaan ani Goottaan Mootiin Waan Maraa
ilti tiyya gara mootummaa Israa'elii cubbaaletti'ii hin ilaalti;
lafa irraa isii hin balleessa;
te'uu malee baraaree sanyii Yaaqoobii hin balleessu» jedha.
- ⁹ «Kunoo, ani ajaja hin baasa;
akka midhaan meemme'een meemmessanuu,
kolbaa Israa'elii
gosa biyya adda addaa oddu'utti hin meemmesa;
te'uu malee midhaan tokkolle
meemmee keessa dabaree lafa hin bu'u.
- ¹⁰ Kolbaa tiyya keessaa worri cubbaaleyyiin,

* 9:7 Itoophiyaa: Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali.

«Wonni hantuun nu hin dhaqqaddu yookiin nu hin geettu» jedhu marti
shallaaga'aan hin du'an.

Kolbaan Israa'elii Adde'etti Hin Deebiti

- ¹¹ «Mootummaan Daawitii
akka dunkaanii jiddee ti.
Ani ammoo bara san deebisee isii ol hin kaasa;
addee isiin ciccitte hin erba;
waan bututtelle adde'etti deebisee ijaaree,
akkuma isiin dur jirtu hin godha.
- ¹² Achiin duuba Israa'el
worra biyya Edoomiititti baraa'ee hafanee fi
gosa biyya adda addaa
ka maqaa kiyyaan waamamanu
mara hin qabatti» jedha Mootiin Waan Maraa
ka waan kana akka isiin teetu godhu.
- ¹³ Mootiin Waan Maraa,
«Barri ka haamu haamee adoo hin fixin,
ka qotu dhufu,
nami woynii dhaabu dhaabee adoo hin fixin,
ka woynii cunfu dhufu hin dhufa.
Gaarota irraa daadhiin woyni'ii o'ituun hin coccoxxi;
koobota mara irralle'ee hin lolaati.
- ¹⁴ Ani kolbaa tiyya ta booji'ante Israa'el
gara lafa isaaniititti hin deebisa;
isaan qachaa ifii ka diigame
deebisanees ijaaratanees keessa hin le'an.
Muka woyni'ii dhaabbatanees,
daadhii woyni'ii irraa hin unan;
oorruu adda addaa dhaabbatanees
midhaan irraa hin nyaatan.
- ¹⁵ Ani kolbaa tiyya Israa'el
lafa isaaniititti deebisee isaan hin dhaaba;
lafa ani isaanii kenne irraa
deebi'anees ijjumaa hin buqqa'anu» jedha
Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan.

Kitaaba Obaadiyaa Raagichaa Seensa

Kitaab gabaabaan kun dhaloota Kiristoosiitiin dura bara dhibba shanii fi saddeettamii jaatti diigama Yersaalemiitiin duuba yennaa hin beekkanne keessatti dhaggame; yennaa san Edoomiin kibba gara aduun baatutti dhaggantu, bara dheera'aaf diina Yihuda'aa ta teete, diigama Yersaalemiititti gammadiisaan, worra Yersaalem lolu qarqaariisaan qabeenna qachaa Yersaalemii saamiisatti jirtiyyu. Edoom diinota Israa'elii dhibii woliin adabbii jaddu'uu fi injifatam akka isii irra dhaqqabu, Obaadiyaan raaga dubbate.

Haadhoo Dubbi'ii

Adabamiisa Edoomii 1-14

Guyyaa Mootii Waan Maraa 15-21

Adabamiisa Edoomii

¹ Mudhiin Mootiin Waan Maraa Waaqi marroo biyya Edoomii Obaadiya'atti mudhise asiin jala jirti:

Ergamaan tokko

gara gosa biyya adda addaa ergamee,

«Ka'aa! Dhandhee,

biyya Edoomii lollaa!» jedhuun

ergaa Mootii Waan Maraa irraa dhagganneerra.

² Ammalle Mootiin Waan Maraa Edoomiin,

«Kunoo, gosa biyya adda addaa keessatti

akka ati dadhaddu,

ijjuma akka tuffatantu hin godha.

³ Ati ka mana keeti

addee ol jette gaara irratti ka ijaarratte,

ka holla dhaka'aa keessa leetu,

«Eentu lafatti gad na buusa?» ka jettu,

koora keetittuu si sobe.

⁴ Ati akka risa'aa gubbaa irra yoo kaatelle,

mandhee teeti urjoota oddu'utti,

yoo ijaarrattelle,

ani achii gad si buusa

⁵ Hattuun Yookiin saantuun

halkaniin mana keeti yoo dhufane,

haguma barbaadane qofa fudhatan.

Worri midhaan woyni'ii guuratulle,

woxoo hin lakkisa.

Diinni keeti ammoo

ijjuma si hin balleessa.

⁶ Isin sanyiin Esaawuu*

manni keessan soffameera.

Karri teessan duudiille saamanteerti.

⁷ Goliin teeti si sobanee,

biyya teeti keessa si ari'ane.

Jaaloti teeti worri addatamane

dhossa'aan tiyyoo si duratti afanee,

«Qarummaan isaa meet» jedhane.

* **1:6** Sanyii Esaawuu: Kolbaa Edoomii jedhamuu hin dande'ama.

- 8 Guyyaa sanitti Mootiin Waan Maraa:
 Ani qaroolle Edoom keessaa,
 worra hubantii qabu
 gaara Esaawuu irraa hin balleessu.
- 9 Ee qachaa Temaani!
 Loltooti teeti hin bararaan;
 worri gaara Esaawuu irra
 jiranu martinuu hin ijjeefaman.

Adabamiisa Edoomii

- 10 «Sanyii Obboleessa keeti Yaaqoobii
 hunnaan waan ijeetteef,
 hin qaanotta;
 haga bara baraalle hin badda.
- 11 Guyyaa alagaan karra saame,
 worri ormaa dalleya cassee seenee
 Yerusaalem irratti hixaa buufate,
 atille akkuma worra sanii itti teetee,
 irraa fagaattee dhaabbatte.
- 12 Guyyaa obboleessi keeti rakkatu
 isatti qacifatuun,
 guyyaa badii kolbaa Yihuda'aa, gammaduun,
 guyyaa gadda isaanii geeraruun
 si'iif hin malle.
- 13 Guyyaa badii kolbaa tiyyaa
 qachaa isaanii seenuun,
 guyyaa badii isaanii itti qacifatuun,
 karra isaaniille saamuun
 si'iif hin malle.
- 14 Guyyaa gadda isaanii
 qaxxaamura kara'aa irra dhaabbattee
 worra baqatanee bayanu qaddee
 dabarsitee diinotatti kennuun,
 si'iif hin malle.

Mootiin Waan Maraa Gosa Biyya Adda Addaatitti Hin Mura

- 15 «Guyyaan ani Mootiin Waan Maraa
 gosa biyya adda addaa maratti muru dhikaateera;
 Edoom, akkuma ati nama irratti goote
 si'i irralle'etti hin godhama;
 hujiin teeti hantuun mataa keetitti hin deebiti.
- 16 Akkuma kolbaan tiyya
 gaara kiyya woyyicha irratti
 muduunuu rakko'oo unte,
 gosi biyya adda addaa marti
 adoo wol irraa hin kutin hin unti;
 irra caalaalle hin unti;
 akka hin jirrelle hin teeti.

Injifachaa Israa'elii

- 17 Worri gariin ammoo
 gaara Xiyoonii irratti hin hafan,
 gaarri Xiyooniille woyyicha hin te'a;

- sanyiin Yaaqoobii ammoo
 worra lafa isaanii
 isaan irraa fudhate irraa
 deebifatane hin fudhatan.
- 18 Sanyiin Yaaqoobii akka ibiddaa,
 sanyiin Yoseefille
 akka bobe'aa te'anee,
 sanyii Esaawuu ta akka huuraa
 gubanee hin fixan;
 sanyii Esaawuu keessaa ka hafu
 tokkolle hin jiru.
- 19 Worri biyya Yihuda'aatiin gara kibbaa jiranu
 gaara Esaawuu,
 worri gaara jala jiranu ammoo
 biyya Filisxeemotaa hin qabatan;
 isaan Samaariya'aa fi
 lafa sanyii Efreemii hin qabatan;
 sanyiin Beniyaaminii ammoo
 Giil'aad hin qabatan.
- 20 Loltooti Israa'elii
 worri booji'amee Kana'aan keessa jiru
 haga Zaarefa'aatitti hin qabatan;
 worri Yerusaalemii booji'amee
 Safaaraad jiru
 qachoota biyya Yihuda'aa
 ka gara kibbaa[†] jiranu hin qabatan.
- 21 Worri isaan bilisa baasu gaara Xiyoonii irratti
 ol bayanee gaara Esaawuu hin bulchan;
 yennaa san mootummaan
 ta Mootii Waan Maraa hin teeti» jedha.

[†] 1:20 Qachoota kibba Yihuda'aa: Isaan kun qachoota Negebii ti.

Kitaaba Yoonaasii Raagichaa Seensa

Raagi Yoonaasii, kitaaba dabarsi'ii ka raagicha ajaja Waaqaa muummessuu dhabe tokko irratti, rakkoo jadduu dhaqqaddu ka himu waan te'eef, kitaabota raagaa ka dhibii irraa adda ka te'e. Waaqi Yoonaasiin, «Gara qachaa guddaa nyaapha hamaa kolbaa Israa'elii te'e, gara mootii guddaa mootummaa Asiriya'aa biyya Nanawwe'ee dhaqi» jedhee ajaje. Yoonaas ammoo, «Waaqi qachaa san balleessiisaaf ifi eeggachiisa jabaa kenne hujii irra hin oolchu» jedhee waan hedeef, ergaa Waaqaa gara biyya Nanawwe'ee fuudhee geessuu hin feene. Wonni hedduun adda addaa teeteen duuba jaalatuu dhabulle ajajame; raagi badi'iille adoo hin muummowin waan hafeef mufate. Kitaab kun Waaqi dada duudii irratti baallii akka qabu hubachiisa. Waaqi irra caalaa, Waaqa jaalalaatii fi mararti'ii te'uu isaatiin nyaapha kolbaa ifi adabu'uu fi balleessuu irra akka isaaniif araaramuu fi fayyisuu barbaadu hubachiisa.

Haadhoo Dubbi'ii

Waamamiisaa fi ajajama dhabuu Yoonaasii1:1-17

Cubbuu irraa deebi'iisaa fi bayiisa Yoonaasii2:1-10

Erga Yoonaas Nanawwee irratti dubbate 3:1-10

Waaqi kolbaa qachaa Nanawwe'eetiif marare4:1-11

Ajajama Dhabuu Yoonaasii

¹ Gaafa tokko jechi Mootii Waan Maraa gara Yoonaasii ilma Amiitaayii dhufee,

² «Ka'ii, gara Nanawwee qachaa gudda'aa dhaqi; hammeenni namootaa guddatee na bira waan geyeef itti lallabi» jedhe.

³ Yoonaas ammoo, fuula Mootii Waan Maraa duraa baqatee gara ollaa Tarshiishii deemiisaaf ka'ee, ollaa Yoopheetitti gad bu'ee hoboloo guddittii gara Tarshiishii deemaartu dhaggate; inni gatii ittiin deemu kaffaleen duuba, fuula Mootii Waan Maraa duraa gara Tarshiishii baqatiisaaf hoboloo guddittii yaabbatte.

⁴ Mootiin Waan Maraa ammoo bubbee jadduu abbaayaa irratti kaase; danbaliin jadduun abbaayaa irratti waan kaateef, hoboloon guddittiin cacciisaaf dhikaatte.

⁵ Worri hoboloo san oofu duudiin guddoo sodaatanee, nami marti tokko tokkoon isaatuu gara waaqota ifi iyye. Akka itti sallatuuf meya hoboloo guddittii keessa jiru gara abbaaya'aa gad gatane; Yoonaas ammoo kolloo hoboloo sanii keessa gad bu'ee, addee irkatetti hirriiba hamaa keessa jiraayyu.

⁶ Ajajaan hoboloo gudditti'ii gara isaa dhikaatee, «Attam akkana ifi gattee ratta? Ka'ii waaqa keeti waammadhu, takki nuu nayee badii irraa nu hambura fa'a» jedheen.

⁷ Worri hoboloo san oofu, «Wonni hantuun tun sababa eennuutiif akka nu irra geette beekiisaaf, kowa'a hixaa buufanna» woliin jedhane. Isaan hixaa buusanee hixaan Yoonaasitti bu'e.

⁸ Maarre isaan, «Wonni hantuun tun sababa eennuutiif nu irra geette? Hujiin teeti maan? Eessaa dhutte? Biyyi teeti eessa? Gosii maan? Nutti himi» jedhane isa gaafatane.

⁹ Inni deebisee, «Ani nama gosa Ibraawi'ii ti; ani Mootii Waan Maraa Waaqa ol gubba'aa ka lafaa fi abbaayaa dade Waaqonfadha» jedhe.

¹⁰ Inni marroo ifii dursee isaanitti waan himeeruuf, akka inni Mootii Waan Maraa duraa baqataaru beekane; tanaaf guddoo sodaatanee, «Wonni ati goote kun maan?» jedhane isa gaafatane.

¹¹ Danbaliin ittuma jabaataa waan deenteef, isaan, «Akka danbaliin sarmitu maan si goona?» jedhaneen.

¹² Yoonas deebisee, «Rakkoon danbali'ii tun sababa kiyyaaf akka teete hin beeka. Abbaayaa gudditti'itti na gata'a; yoos danbaliin hin sarmiti» jedheen.

¹³ Jarri ammoo hoboloo guddittii gara lafaa baasiisaaf, haga hunna ifii laaqane*; ammoo danbaliin ta qaraa caalaa ittuma waan jabaatteef, hin dandeenne.

¹⁴ Maarre isaan bowanee, «Magganne'e Mootii Waan Maraa, sababa lubbuu namicha kanaatiif nu hin balleessin, akka worra nama yakkaa hin qanne ijjeesuutitti nu hin laakkowin; ee Mootii Waan Maraa, ati waan jaalattu gooteerta» jedhane.

¹⁵ Achiin duuba Yoonas fuudhane abbaaya'atti gatane; danbaliille takkumaan sarmite.

¹⁶ Wonni kun jara guddoo waan sodaachitteef, ciincaa Mootii Waan Maraatiif dhikeessanee, isa tajaajiliisaaf waadaa galane.

¹⁷ Ajaja Mootii Waan Maraatiin qurxummiin guddoon takka Yoonas liqinsitee, innille guyyaa sadii fi halkan sad gadhaa qurxummi'ii keessa bule.

2

Daadimata Yoonasii

¹ Yoonas gadhaa qurxummi'ii keessaa Gootaa Waaqa ifii daadimatee,

² «Rakkoo tiyya hantuu keessatti Mootii Waan Maraa kiyya ani si waam-madhe,
atille naa deebitte.

Qilee awwaalaa jalaa ani sitti iyyadhe,
atille naa dhageette.

³ Ati gara gadhaa abbaaya'aa,
qilee keessatti,
addee bisaan na marsetti na gatte;
hunni guddoon danbalii teetiille na gubbaa yaate.

⁴ Yoos, «Ani fuula keeti duraa gatameera;
deebi'ee Galma woyyicha keetii
hin dhaggaa laati?» jedhee yaadadhe.

⁵ Bisaan na irra yaa'ee na lixxisiiseera;
Abbaayaan ijuma na buxxeerti;
marri bisaan keessaalle mataa kiyyatti marame.

⁶ Ani gaarota jalatti,
lafa balbalti haga bara baraa
natti cufantetti gad bu'e.

Mootii Waan Maraa Waaqa kiyya ati ammoo,
jiru'uun qilee keessaa na baatte.

⁷ Yennaa jiruun tiyya na dadhaddetti,
Mootii Waan Maraa kiyya,
ani gara keeti daadimadhe;
Galma woyyicha keeti keessalle'ee
daadimata kiyya naa dhageette.

⁸ Worri waaqota dharaa waaqonsu

* **1:13 Laaqane:** Laaqiis kun mukaana bisaan gurduummatane; lafa tokko tokkotti gurduumane jedhama.

badhaadha dhaggatiisaaf malane hin dhaban.

⁹ Ani ammoo faaruu leellisaatiin;

ciincaa si'iif hin dhikeessa.

Waan waadaa si'iif galelle hin godha.

Fayyinni Mootii Waan Maraa irraa dhufa» jedhe.

¹⁰ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa akka qurxummiin Yoonaas tuttuuf ajaje; qurxummiille lafa bisaan hin jirre irratti isa tutte.

3

Yoonaas Mootii Waan Maraatiif Ajajame

¹ Jechi Mootii Waan Maraa yennaa lammeesso'oo gara Yoonaasii dhufee,

² «Ka'ii, gara Nanawwee qachaa guddichaa dhaqiitii ergaa ani si'itti himu kolba'aaf lallabi» jedheen

³ Maarre Yoonaas jecha Mootii Waan Maraatiif ajajamee, Nanawwee dhage. Qachaan Nanawwe'ee guddaa waan te'eef, maddii tokko irraa ka'anee gara maddii taanii geyiisaaf deensa guyyaa sadii fudhata.

⁴ Yoonaas qachaa keessa seenee, deensa guyyaa tokkoo deemeen duuba, «Nanawween guyyaa afurtamatti baddi» jedhee lallabe.

⁵ Kolbaan Nanawwe'ee Waaqatti dhugeeffatte. Isaan cubbuu irraa akka deebi'ane mudhisiisaaf, nami marti guddaan, diqqaan akka laamuuf lassanee, woyaa gaddaa uffatane.

⁶ Mootichi qachaa Nanawwe'ee oduu tana yennaa dhage'e, barcumaa ulfinna ifii irraa ka'ee, woyaa ifii ifi irraa baasee, woyaa gaddaa uffatee daadhaa irraa tee'e.

⁷ Achiin duuba mootichi gara kolbaa Nanawwe'ee lassii erge; lassiin baate sun mootichaa fi qondaaltota isaa biraa akka ajajametti: «Eennulle woy afaaniin hin qabin; horiin, hooleelle marra hin dheedin; bisaanille hin unin.

⁸ Nami martii fi horiin gadda uffatanuu ti. Nami duudiin jabeessee gara Waaqa daadimataa, karaa hammeenna ifii lakkisee hujii hantuu ifii irralle'ee deebi'uu ti.

⁹ Eentu beeka? Takki Waaqi nuu nayee, aarii hantuu ifii nu irraa caffatee, nulle hin bannu fa'a teeti» ta jettu.

¹⁰ Waaqi waan isaan godhanee fi karaa hamaa ifii irraa akka isaan deebi'ane yennaa dhagge, isaaniif nayee, badii isaan irratti geessisiisaaf yaade hin geessine.

4

Aarii Yoonaasiitii Fi Marartii Waaqaa

¹ Yoonaas ammoo marroo waan kanaa guddoo gaddee aare.

² Inni gara Mootii Waan Maraa daadimatee, «Mootii Waan Maraa kiyya, adoo biyya tiyya jiruu, wonni ani dubbadhe tanumaa motii ree? Ani tanaaf dafee gara biyya Tarshiishii baqadhe. Ati Waaqa arjaa, mararaa, ka aari'iif hin ariifannee fi ka jaalala bara baraa guddaa qaddu, waan hantuu fidiisaaf murteeffattelle ka lakkittu akka teete beekeera.

³ Amma Mootii Waan Maraa kiyya, lubbuu tiyya fudhadhu. Jiraatu'uu mannaa du'uu naa woyya» jedhe.

⁴ Mootiin Waan Maraa ammoo deebisee, «Aariis keeti sirri'ii?» jedheen.

⁵ Yoonaas qachaa keessaa bayee gara aduun baatutti tee'e. Achitti gosee midhaaffattee, waan qachaan sun te'u dhaggiisaaf gaaddisa jala tee'e.

⁶ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa akka Yoonaas aarii ifii caffatu buqqii lachisiisee, isaan gubba'atti gaaddisa godheef. Yoonaasille buqqii latte sanitti guddoo gammade.

⁷ Boruuyyaa ammoo gara ganamaatitti, Waaqi akka corroxxi buqqii san nyaattu ajaje; buqqiille godde.

⁸ Yennaa aduun baate, Waaqi qilleensa o'aa ka gara aduun baatuu erge; o'i adu'uulle mataa Yoonaasii waan gubeef gaggabe. Maarre inni, «Jiraatu'uu manna du'uu naa woyya» jedhee du'u halche.

⁹ Waaqi ammoo Yoonaasiin, «Ati marroo buqqi'iitiif aariis keeti sirri'ii?» jennaan,

Inni deebisee, «Ani haga du'aatitti aariisa qaba» jedhe.

¹⁰ Mootiin Waan Maraa ammoo, «Ati buqqii itti dadhaddee hin guddisin, ta halkan tokkotti guddattee, halkan tokkotti godde saniif gadditeerta.

¹¹ Qachaa guddaa Nanawwe'ee ka namooti kuma dhibba tokkoo fi diddam, ka middaa fi bitaa ifii addaan hin beenne, horiin hedduulle keessa ka le'u kanaaf guddoo nayuu hin qabu ree?» jedhe.

Kitaaba Miikiyaasii Raagichaa Seensa

Raagichi Miikiyaas baruma raagichi Isaayaas jiru raagicha jiru yoo te'u, inni mootummaa kibbaa ta Yihuda'aa, nama qachaa baadiyyaa keessaa tokkoo ti. Akkuma raagichi Amos mootummaa kaabaa irratti badiin akka dhaqqaddu raage, raagichi Miikiyaasille sababuma saniin, mootummaa kibbaa irralle'etti badiin akka dhaqqaddu raage; muraahaa haqaa kennuu dhabbiisa isaaniitiif, Waaqi muraahaa akka fidu ifi eeggachiise; te'uu malee, raagi Miikiyaasii addii gara duraatiif beessisa guddaa irra caalaa ifa te'e qaba.

Keessattuu kutaan xiyyeeffannaan itti kennamuu barbaachisu, nageenni biyya lafaa maraa, baallii Waaqaatiin jala akka jiruu (4:1-4), maatii sanyii Daawitii keessaa, mootiin guddaan akka dhufuu fi kolba'aaf nageya akka kennu (5:2-5), akkasuma wonni raagoti Israa'elii dubbatteertu marti hima tokkocha keessatti akka wolitti qabame hima. Himi sunille,

«Wonni inni nu irraa barbaadu kana: waan haqa te'e akka hunyu, jaalala dhuma hin qanne akka mudhinnuu fi gad jennee tokkumma'aan Waaqa keenna waliin akka leenu» jedha (6:8).

Haadhoo Dubbi'ii

Muraahaa Israa'elii fi Yihudaa Irratti Muraantu1:1–3:12

Adde'etti Deebi'iisaa fi Nageya4:1–5:15

Ergaa Ifi Eeggachiisiisaatii fi Addi'ii6:1–7:20

¹ Bara moototi Yotaam, Ahaazii fi Hisqiyaas tarre'etti Yihudaa irratti mootii te'aneeranu keessa jechi Mootii Waan Maraa gara Miikiyaasii nama qachaa Mooresheetii dhufee, inni marroo Samaariya'aatii fi Yerusaleemii mudhii dhagge.

Gadda Samaariya'aa Fi Yerusaleemitti Te'u

² Isin gosi biyya adda addaa marti dhage'a'a!

Biyyi lafaa, worri isii keessa leetanu marti caqasa'a!

Gootaan Mootiin Waan Maraa

Galma ifii woyyicha keessaa isin irratti dhugaa hin baya.

³ Kunoo, Mootiin Waan Maraa addee leetoo ifii irraa dhufiisatti jira;

inni gad dhufee, qaccee gaarotaa irra hin ideema.

⁴ Gaaroti akka gagaan ibidda biratti baqu, isa jalatti hin baqan;

dhooqille akka bisaan goodda irra gad yaa'u qotuutitti hin baqaxxi.

⁵ Wonni kun martinuu sababa yakkaa Yaaqoobiitiif, sababa cubbuu kolbaa Israa'eliitiif teete; Yaaqoob akka yakku ka godhe eennu? Samaariya'aa motii ree? Addeen waaqonfanna'aa ta kolbaa Yihuda'aa tam ree? Yerusaleemii motii ree?

⁶ Maarre Mootiin Waan Maraa, «Ani qachaa Samaariya'aa caccassee alatti hin tuula; addee muka woyni'ii itti dhaabanu isa hin godha; dhakaa isaa gara dhooqaa gad hin buusa; hundee isaalle qullaa hin hambura.

⁷ «Waaqoti dharaa ka qachaa Samaariya'aa marti hin bututan; kennansi galmaa qachaa Samaariya'aatiif kenname marti ibiddaan hin gubama; ani fakkii qachaa Samaariya'aa mara hin balleessa; kennansi qachaana Samaariya'aa sagaagalummaa irraa dhaggate, ammalle deebi'ee hujii sagaagalumma'aatiif hin te'a» jedha.

Kolbaan Wiiccifattee Hin Bootti

⁸ Waan kanaaf ani bowee hin wiiccifadha; miila duwwaa, nafa qullaa hin ideema; akka jeedalaa iyyaa, akka urungu'uu hin bowa.

⁹ Madaan qachaa Samaariya'aa waan hin fayyineef, gara biyya Yihuda'aa babadhatteerti; gara karra Yersaaleemii ta kolbaa tiyyaatuu geetteerti.

¹⁰ Qachaa Gaatii keessatti waan kana hin odeessina'a; qachaa Aakoo keessatti hin bowina'a; qachaa Bet-le'aafra'aa keessatti bukuu keessa gan-galadha'a.

¹¹ Isin worri qachaa Shaafiirii keessa leetanu, qullaa teessan qaani'iin dabara'a. Worri qachaa Saanaanii keessa le'u keessaa gad hin bayu. Worri qachaa Bet-ezelii keessa le'u hin bowan; isin qarqaariisaafille hin dande'anu.

¹² Mootiin Waan Maraa balaa hamaa karra Yersaaleemiititti waan bu-useef, worri qachaa Maarootii keessa leetanu rakkoo jalaa bayyiisaaf wor-waatan.

¹³ Isin worri qachaa Laakiishii keessa leetanu, garreettaa fardaan harkifamu farda isa harkisutti hidhadha'a. Yakkaan Israa'elii isin keessatti waan dhagganteef, worra Xiyoonii isinittuu cubbuu hujuu jalqassiise.

¹⁴ Tanaaf isin qachaa Mooresheet-gaatii gad hin lakkittan; kolbaan qachaa Akziibii mootota Israa'elii hin soban.

¹⁵ Isin worra Mareshaa keessa leetanu, Mootiin Waan Maraa worra isin injifatu isinitti hin fida; sooreyyiin Israa'elii gara goda Adulaamii deemanee hin dhokatan.

¹⁶ Ijoolleen teessan ta isin jaalattanu, gara lafa ormaa booji'antee waan fudhatantuuf, rifeensa mataa keessanii haadadha'a. Mataa keessan akka mataa allaatti'ii moluu godhadha'a.

2

Karoora Namaatii Fi Karoora Waaqaa

¹ Worra taqee ifii irra irkatee karoora hamaa baasuuf aanne'e! Tana godhiisaaf hunna waan qabanuuf, yennaa latti bariite hujii irra oolchan.

² Isaan fichaa namaa kajeelane, hunnaan qabatan; mana namaalle kajeelane fudhatan; isaan mana tokko nama isaa woliin, lafa isaa woliin mirga namaa dhiitane, karra isaa fudhatan.

³ Tanaaf, Mootiin Waan Maraa, «Ani kolbaa tana irratti balaa fidiisaaf karoora baasiisatti jira; isin balaa san jalaa bayiisa hin dandeettanu. Yennaan sun hantuu waan teetuuf, bondhoora ideemiisa hin dandeettanu.

⁴ Guyyaa san namooti isinitti murgaa, faaruu gaddaa tana marroo teessaniif faarsaa, «Nuuti ijumaa banneerra; latti kolbaa teennaa qoqoodanteerti; Mootiin Waan Maraa fichaa keenaa nu irraa fuudhee worra nu injifateef qoodeera» hin jedhan» jedha.

⁵ Tanaaf, yaa'ii Mootiin Waan Maraa keessatti nami hixa'aan lafa isiniif qoodu hin jiru.

⁶ Raagoti isaanii, «Nutti hin raagin! Marroo waan kanaa nutti hin raagin; salphinni nu irra hin gewu.

⁷ Ee sanyii Yaaqoobii, wonni akkasii hin jedhamaa ree? Ayyaanni Mootiin Waan Maraa ossa dhabee ree? Inni hujii akkasii hujaa ree?» jedhan.

Mootiin Waan Maraa, «Qajeelummaa'aa ka ideemuuf, jechi kiyya waan dansaa hin godhuuf ree?».

⁸ Muummee irratti isin akka diinaa teetane kolbaa tiyya irratti kaatane; yaada lolaa adoo hin qabaatin, namoota nageyaan dabaranu irraa woyaa isaanii mulqattane.

⁹ Dubartoota kolbaa tiyyaa mana isaanii dansaa keessaa gad ariitane; isin ulfinna kiyya ijoollee isaanii irraa haga bara baraa fudhattane.

¹⁰ Addeen tun waan battootteertuuf, akka malee baddeerti; isiin addee foora keessanii waan hin te'iniif, ka'a'aatii asii deema'a.

¹¹ «Nami dharaamessi sobu tokko dhufee, «Marroo daadhii woyni'iitii fi marroo untoo macheessituu hin raaga» yoo jedhe, kolbaa tanaaf raagichi fudhatama qabu isa.

¹² «Ee sanyii Yaaqoobii, ani dhugumaan isin mara wolitti hin qaba; kolbaa Israa'elii worra baraaree hafe adduma tokko wolitti hin qaba; akka hoolee gooree keessa jirtuu, akka tika hoole'ee ta marra dheediisatti jirtuu, kolbaan lafa hin guutti» jedhe.

¹³ Ka cassee karaa banu, isaaniin dura hin deema; isaan karra cassanee keessa dabaranee, gad hin bayan; mootiin isaanii dabaree isaaniin dura hin deema; Mootiin Waan Maraalle isaan hin sooressa.

3

Sooressitootii Fi Raagoti Xixamane

¹ Achiin duuba ani, «Isin sooreyyiin kolbaa Yaaqoobii, bulchitooti kolbaa Israa'elii caqasa'a; isin haqa beeku'uu hin mallee?

² Isin waan dansaa jibbitanee, waan hantuu jaalattane; kolbaa tiyya irraa gogaa, lafee isaanii irralle'ee foon quncittane.

³ Isin foon kolbaa tiyyaa nyaattane; gogaa isaanii irraa quncittane; lafee isaanille butuchitane; akka foon akowanuutii fi akka foon okkote'etti iffee-lanuu kukkuttane» jedhe.

⁴ Isaan gara Mootii Waan Maraa hin iyyan; inni ammoo deebii isaaniif hin kennu. Isaan waan hantuu hujaneef, inni yenna san fuula ifii isaan irraa hin deebifata.

⁵ Mootiin Waan Maraa, «Raagoti kolbaa tiyya karaa irraa gorsitu, yoo nami areereef, isaan nageya lassan; yoo nami hin areeriniif, woraana irratti lassan.

⁶ Tanaaf, halkan mudhii hin dhagginee fi dukkanti waan gara duraa hin dhaggisiinne hin dhutti. Raagota irratti aduun hin seenti; guyyaan isaanitti hin dukkana.

⁷ Waaqi deebii waan isaaniif hin deebinneef, worri mudhii dhaggu hin qaanowa; worri waan gara duraa himulle hin salphata; isaan fuula ifii hin gollatan» jedha.

⁸ Ani ammoo Yaaqoobiif yakkaa isaa, Israa'eliif cubbuu isaa himiisaaf hunnaan, Ayyaana Mootii Waan Maraatiin, haqaa fi jabeenna gudda'aan guutameera.

⁹ Isin sooressitooti sanyii Yaaqoobii, bulchitooti sanyii Israa'elii, worri haqa tuffattane, worri waan dhugaa te'e mara micciirtanu tana dhage'a'a;

¹⁰ isin dhiiga dhangalaasiisaan Xiyoan, hammeennaan Yerusaalem ijaartan.

¹¹ Sooressitooti isi'ii safu'uuf muran; hayyooti isi'iille gati'iif barsiisaan; raagoti isi'iille beese'eef raagan. Isaan ammoo Mootii Waan Maraatiitti irkatanee, «Dhugumaan Mootiin Waan Maraa odduu teenna jira. Balaan nutti hin dhufu» jedhan.

¹² Tanaaf sababa keessaniif, Xiyoan akka ficha'aa hin qotanti; Yerusaalem tuulaa bututaa hin teeti; kooba Galma Waaqaa raaqi itti hin lata.

4

Gaara Mootii Waan Maraa (Isa. 2:2-4)

¹ Bara muumme'ee gaarri Galmi Mootii Waan Maraa irra jiru gaara mara ka caalu hin te'a; kooba mara caalee hin mudhata; gosi biyya adda addaa hedduun gara gaara sanii hin yaati.

² Gosi biyya adda addaa hedduun dhuttee, «Kowa'a, gara gaara Mootii Waan Maraa, gara Galma Waaqa Yaaqoobii ol baana. Akka nuuti daandii isaa irra ideennuuf, inni karaa ifii nu hin barsiisa» hin jetti. Seerri Xiyyoon irraa, jechi Mootii Waan Maraa Yerusaalem irraa hin baya.

³ Inni wodhakkaa kolbaa heddu'uutitti hin mura; wol dhaba gosa biyya adda addaa jajjabbaan odduu jirtu hin sirreessa; isaan shallaagaa ifii qottoo, eboo ifille haantuu hin tumatan. Gosi biyya tokkoo, gosa biyya takkaa irratti lola hin kaachu; leenjiin woraanaalle hin jiraattu.

⁴ Nami martinuu muka woynii ifitii fi muka harru'uu ifii jala hin tee'a; ka isaan sodaachisu hin jiru; Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dade tana dubbateera.

⁵ Gosi biyya adda addaa marti maqaa waaqota ifitiin hin ideeman; nuuti ammoo bara baraa haga bara baraa maqaa Mootii Waan Maraa Waaqa keennaatiin hin ideenna.

Kolbaan Israa'elii Boojuu Irraa Hin Deebiti

⁶ Mootiin Waan Maraa, «Guyyaa san ani worra naafolee, worra booji'amee fi worra akka gaddanu godhe wolitti hin qaba.

⁷ Worra naafolee baraaree hin hambura; worra booji'ame gosa biyya jaddu'uu hin godha; ani Mootiin Waan Maraa guyyaa sanii jalqabee gaara Xiyyoonii irratti bulchaa isaanii hin te'a.

⁸ Ee xelleephoo eeddoo gaara Xiyyoonii, addee Waaqi akka tisse'ee irra tee'ee kolbaa ifii eegu, qachaan guddichi keeti ka durii adde'etti hin deebi'a. Mootummaan qachaa Yerusaaleemii hin deebiti» jedha.

⁹ Ati amma maaf qoonqoo ol qabaattee iyyita? Ati mootii hin qadduu? Akka dubartii ciniinsifattuu ka rakkattu, ka si gorsu dhabamee tii?

¹⁰ Isin kolbaa Xiyyoonii, akka dubartii ciniinsifattuu, aadaa rakkadha'a; qachaa keessaa baya'aatii, diida keessa qubadha'a. Gara Baabilonii hin ideentan; achitti Mootiin Waan Maraa harka diina keessanii jalaa isin baasee, isin hin woda.

¹¹ Amma ammoo gosi biyya adda addaa hedduun si loliisaaf wolitti qabante, «Yerusaalem battoottuu ti; ilti teenna Xiyyoon ceeggattuu ti» jetti.

¹² Isaan ammoo yaada Mootii Waan Maraa hin beekanu; akka laddee eeddumme'etti wolitti qabanuu, karoora ka isaan wolitti qabuu sanii hin hubanne.

¹³ Mootiin Waan Maraa, «Ee kolbaa Xiyyoonii, ka'a'a! Diina keessan akka midhaanii dhowa'a! Ani gaafa sibiilaa isiniif hin kenna; kottee sageettu'uu isiniif hin kenna; isinille gosa biyya adda addaa hedduu hin butuchitan.

«Bu'aa isaan hunnaan dhaggatane ana Mootii Waan Maraatiif, karra isaanii Goottaa lafa duudi'iitiif hin dhikeessitan» jedha.

5

¹ Nuuti waan marfanneef, ee ati qachaa loltootaa, loltoota teeti wolitti qabadhu! Worri nu marsane sun bulchaa Israa'elii boqoo isaa ule'een hin dhowan.

Bulchaa Betlihem Keessaa Dhalatu

² Ati ammoo qachaa Betlihemii-Efraata'aa, qachoota Yihuda'aa keessaa guddoo diqqaattulle, ka Israa'el bulchu tokko si keessaa naaf hin ka'a; hundeen isaa duruu jira.

³ Haga haati isaa ciniinsifattee isa deettutti, Mootiin Waan Maraa Israa'el hin lakkisa; achiin duuba obboleeyyan isaa worri booji'aman eeranu, deebi'anee gara Israa'elootaa hin galan.

⁴ Inni jabeenna Mootii Waan Maraatiin, ulfinna maqaa Mootii Waan Maraa Waaqa ifitiin jabaatee dhaabbattee, hoolee ifii hin tissa; guddinni isaa haga qaccee lafaa waan dhaqqabuuf, Israa'elooti nageyaan hin le'an.

⁵ Innille nageya isaanii hin te'a.

Jalaa Bayiisaa Fi Badiisa

Yennaa worri Asoorii biyya teenna lolanu, kushee teenna cassanee yennaa seenanu, nuuti tissitoota torbaa fi sooreyyii dhiira saddeeti isaan irratti akka ka'anuu hin goona.

⁶ Isaan worra biyya Asoorii shallaaga'aan, worra biyya Naamrodiillee shallaagaa buqqifataneen hin bulchan. Worri Asoorii yennaa biyya teenna lolanu, meessaa lafa teennaa yennaa cassanee seenanu, inni isaan jalaa nu hin baasa.

⁷ Kolbaan Yaaqoobii worri jiru'uun hafe, kolbaa hedduu wodhakka'atti akka fixeensa Mootii Waan Maraa biraa bu'uu, akka tiifuu marra irratti buutuu, ka nama addii hin godhanne, yookiin ka ilmaan namaa hin eeganne hin te'an.

⁸ Kolbaan Yaaqoobii worri jiru'uun hafe, gosa biyya adda addaa oddu'utti, kolbaa hedduu wodhakka'atti, akka neenqa bineensota badda'aa odduu jiruu, akka neenqa dardara odduu tika hoolotaa seenee qabee gargar kukkutu, ka nami irraa buusu hin jirree hin te'an.

⁹ Harki keessan diinota keessan irratti ol hin ka'a; nyaapholeen teessan martille hin badan.

¹⁰ Mootiin Waan Maraa, «Guyyaa san, fardoo teessanii fi garreettaa fardaan harkifamu keessan odduu teessanii hin balleessa.

¹¹ Qachaa lafa teessanii hin balleessa; kushee teessan maralle hin diiga.

¹² Ani moruu teessan hin balleessa; hagamaa achi isin worra moru hin qabaatanu.

¹³ Ani fakkii waaqota dharaa keessanii fi soodduu woyyittii isin waaqonfattanuu odduu teessanii hin balleessa; hagamaa achi waan harka keessaniin hujjanetti hin sagaddanu.

¹⁴ Fakkii waaqa dharaa ta «Asheeraa» jedhantuu, odduu teessanii hin balleessa; qachoota keessanille hin diiga.

¹⁵ Gosa biyya adda addaa worra naaf hin ajajanne aari'ii fi mufii guddo'oon haluu hin baya» jedha.

6

Mootiin Waan Maraa Israa'el Irratti Ka'e

¹ Waan Mootiin Waan Maraa jedhu dhage'a'a: Ka'a'a, haajaa keessan gaarota duratti dhikeeffadha'a; kooboti waan isin jettanu dhage'anuu ti.

² Ee gaarota, himannaa Mootiin Waan Maraa dhikeessu dhage'a'a; isinille hundeen lafaa caqasa'a. Mootiin Waan Maraa kolbaa ifii haajaa ittiin himatu qaba; inni Israa'el hin himata.

³ Mootiin Waan Maraa, «Kolbaa tiyya, ani maan isin godhe? Ani attamiin ba'aa isinitti te'e? Deebii naaf kenna'a.

⁴ Ani biyya Gibxi'ii keessaa isin baase; garbummaa jalaa isin wodeera. Muuseen, Aaronii fi Miiriyaam akka isin soressanuu ergeera.

⁵ Kolbaa tiyya, waan mootiin Mo'aabii Balaaqi isin irratti mala dhowe, waan ilmi Be'orii Bala'aam isaaf deebiselle qaabadha; hujii tiyya balchittii

akka beettanuuf, addee «Shiixiim» jedhantuu haga qachaa Giilgaliititti waan te'elle qaabadha'a» jedha.

⁶ Ani maan qabadhee fuula Mootii Waan Maraa dura dhikaadhee, Waaqa ol-gubba'aa duratti sagadu ree? Kennansa gubamuu fi jabbilee woggaa tokkoo qabadhee fuula isaa dura dhikaadhuu ree?

⁷ Mootiin Waan Maraa korbeeyyii hoole'ee kumatti, zayitii ejersaa laga bisaanii kuma kudhan ta geettutti hin gammadaa? Sababa yakkaa tiyyaatiif, ilma kiyya angaficha, cubbuu lubbuu tiyyaatiif, uumaa gudeeda kiyyaa ciincaa dhikeessuu ree?

⁸ Ee nama, Mootiin Waan Maraa waan dansaa sitti mudhiseera. Mootiin Waan Maraa maan si irraa barbaada? Haqa akka hujjuuf, marartii akka jaalattuuf, gad ifi qabiisaan Waaqa keeti woliin akka ideentuufii motii ree?

Waaqi Worra Sobuu Fi Ka Hunnaan Nama Irratti Ka'u Hin Adaba

⁹ Mootii Waan Maraa sodaatiis qarumma'a; Caqasa'a! Mootiin Waan Maraa, kolbaa qachaa keessaa waamee, «Ulee adabbi'ii qaabadha'a. Ka isii qopheesseelle yaadadha'a.

¹⁰ Isin worri hamooleen, qabeenna keessan ka hammeennaa guurrattane, waan ittiin safaranu ka sobaa, ka abaarama san hin dedhaa ree?

¹¹ Nama madaalli'ii fi waan ittiin safaranu ka sirriin hin te'in subbatti qabatu cadhiseetuma lakkisaa ree?

¹² Dureeyyiin qacha'aa hunnaan nama irratti kaati; kolbaan qacha'aa dhara dubbatti; arrabi isaanii soba dubbata.

¹³ Tanaaf, ani isin balleessa; sababa cubbuu teessaniitiif, ani isin diiga.

¹⁴ Isin hin nyaattan ammoo hin quuttanu; gadhaan keessan haga ammaa duwwa'a; waan isin kuufattane shallaaga'aaf waan kennuuf, hin tuulattan ammoo isiniif hin kuufamu.

¹⁵ Hin facaattan ammoo hin haammattanu; zayitii ejersaa hin miiccan ammoo hin dibattanu; midhaan woyni'ii hin cunfitan ammoo daadhii woyni'ii hin untanu.

¹⁶ Isin aadaa Omirii mootichaatii fi waan maatiin Ahaabii mootichaa goote mara eegattaneertan. Tanaaf, ani badi'iif dabarsee isin hin kenna; kolbaan teessanille hin salphatti; gosi biyya adda addaa isinitti murgiti» jedha.

7

Rakkoo Israa'elii

¹ Ani akka nama bona woxoo midhaan woyni'ii qocatu waan te'eef, naaf aanne'e! Nyaatiisaaf, unkuruurri woyni'ii hin jiru; midhaan harru'uu ka ani halchu, ka dursee bilchaatulle hin jiru.

² Nami addatamaan lafa irraa badeera; nami qajeelaan tokkolle hin jiru. Nami marti dhiiga dhangalaasiisaaf riphee gaada; isaan tiyyoon wol adansan.

³ Harki isaanii waan hantuu hujiisa barateera; bulchaan kennansa gaafata; abbaan mura'aa safuu fudhata; worri dureeyyiin waan barbaade muummessa; isaan martinuu wolumaan mala dhowan.

⁴ Isaan keessaa ka mara caalaa «Addatama'a» jedhamu, akka qumi'uudu'uu ti; ka mara caalaa «Qajeela'a» jedhamu, qoree caalaa bada'a. Guyyaan Waaqi isaan adabu ka worri raagotaa* dubbatane dhufeera; yennaan isaan waan te'anuu wollaalanu amma.

⁵ Nama hin addatin; jaala keetitti addii hin godhatin. Niitii teeti ta hanqafatee rattuuyyuu waan isii woliin dubbattu jecha keeti ifi eegadhu.

* **7:4** Worri raagotaa: Afaan Ibrootaatiin Namooti si eegamu jedha; maqaan raagotaa ka dhibiin namoota eegamu.

⁶ Ilmi abbaa ifii hin tuffata; intalti haadha ifii irratti, niitiin ilmaalle haadha dhirsa ifii irratti hin kaati; diinni namaa maatuma isaa keessaa hin te'an.

⁷ Ani ammoo Mootii Waan Maraa addii hin godhadha; Waaqa fayyisaa kiyya hin eegadha; Waaqi kiyya naaf hin dhage'a.

Israa'el Hin Kaati

⁸ Diina kiyya natti hin gammadin! Ani jigulle hin ka'a; dukkana keessa jiraadhulle Mootiin Waan Maraa ifa naaf hin te'a.

⁹ Ani waan isa yakkeef, haga inni haajaa kiyyaaf muraa naa kennutti, ani aarii isaa ta bobeettu hin ossadha. Inni gara ifaa na hin baasa; ani balchummaa isaa hin dhagga.

¹⁰ Achiin duuba diinni kiyya ka, «Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti eessa jira?» anaan jedhu, tana dhaggee hin qaanowa; ilti tiyya jinnana diina kiyyaa hin dhaggiti; ammaayyuu akka caffaa karaa keessaa miilaan irra hin sirbama.

¹¹ Guyyaan dalleya keessan ijaarattanuu, guyyaan meessaa keessan badhi-fattanuu hin dhufa.

¹² Guyyaa san namooti keessan biyya Asooriitii fi qachoota Gibxi'ii irraa, biyya Gibxi'iitii haga laga Efraaxiisii irralle'ee, abbaaya'aa haga abbaaya'aa irralle'ee, gaaraa haga gaaraa irralle'ee gara keessan hin dhufan.

¹³ Sababa hujii worra isii keessa le'utiif ammoo latti hin onti.

Daadimataa Fi Leellisa

¹⁴ Kolbaa teeti, worra hoolota teeti te'ane, ulee teetiin tissi! Isaan amma gongomaa keessa qofii ifii, lafa oorru'uu keessa le'an. Isaan akkuma bara durii, Baashaanii fi Giil'aad keessa dheedanuu ti.

¹⁵ Akkuma bara biyya Gibxi'ii keessaa isaan baattee, bilbaasa nutti mud-hisi!

¹⁶ Gosi biyya adda addaa yennaa bilbaasota kana dhaggane, hin qaanowan; hunna hin dhaban; afaan hin qabatan; gurri isaaniille hin duuda.

¹⁷ Isaan akka bofaatii fi akka bineensota lafa irra lowanuu bukuu hin arraaban. Goda ifii keessaa rommaa hin bayan; soda'aan gara si Mootii Waan Maraa Waaqa keennaa hin deebi'an.

¹⁸ Kolbaa ifii worra lubbu'uun hafeef, ka cubbuu isaanii lakkisee, yakkaa isaanii araaramuuf, Waaqi akka keetii eennu? Ati marartii mudhisiisatti gammadda malee aari'iin haga bara baraa hin turtu.

¹⁹ Ati ammalle nu mararta; yakkaa teenna hin qulqulleessita; cubbuu teenna mara qilee abbaaya'aa keessa hin buutta†.

²⁰ Ati akkuma bara durii abbootii teenna ta duriitiif kakatte, sanyii Yaaqoobiitiif addatamummaa, sanyii Abrahaamiitiifille marartii hin mud-hitta.

† 7:19 Buutta: Yookiin buucha.

Kitaaba Naahomii Raagichaa Seensa

Kitaab Naahomii bara duriitii jalqabanee diinota Israa'elii hamoota ka te'ane, worra Asooriitiif qachaa guddittii ta teete, Marroo badii Nanawwe'ee wolaloo dhikeessa. Nanawween dhaloota Kiristoosiitiin dura gara woggaa dhibba torbaatitti baduun isi'ii, gosa gadhaa jabaattuu* fi koortu irratti Waaqi akka muru mudhisa.

Haadhoo Dubbi'ii

Muraa Nanawwee irratti murante^{1:1-5}

Badii Nanawwe'ee^{2:1–3:19}

¹ Mudhiin marroo Nanawwe'ee, kitaab mudhi'ii ka Naahomii nama biyya Elqoshii kana.

Waaqi Nanawwe'etti Mufate

² Waaqi hinaatticha;

Mootii Waan Maraa ka haluulle bawu;
inni mufii jadduu ifitiin
diinota ifii irratti balaa buusa.

³ Waaqi hunnaa guddoo qaba,

ammoo ariifatee hin aaru;
Yakkaamessa adabu male hin lakkisu.

Karaan isaa bubbe'ee fi danbalii keessa;
duumensi bukuu[†] miila isaa ti.

⁴ Inni abbaayaa xixee hin gossa;

laga maralle hin gossa;
Baashaan latti marraan beekkantee fi
Qarmelos latti qonnaan beekkante qooraneeran;
daraaraan Libaanosii harca'aneeran.

⁵ Gaaroti isa duratti hin tacho'an;

koobotille hin baqan.

Latti isa duratti,

biyyi lafaatii fi

ka isii keessa le'anuu marti hin raafaman.

⁶ Mufii isaa jadduu dura eentu dhaabbatuu dande'a?

O'a aarii isaa eentu dande'ee ossa?

Mufiin isaa akka ibiddaa bobeetti;

rassaalle isa duratti hin bututa.

⁷ Waaqi dansa'a;

yennaa rakkinnaa addee itti baqatanu.

Inni worra itti baqatu rakkinna irraa hin dhoogga;

⁸ diinota ifii ammoo akka lolaa haxowuu

ijjumaa balleessee, dukkanatti hin ari'a.

⁹ Isin maaf Waaqa irratti mala dhoottan?

Inni ijjumaa isin hin balleessa;

lammeessoo nami isa irratti ka'u hin jiru.

¹⁰ Isin worri machoottanu,

akka qoree wol xaxxeetii fi

akka hicaacee goddee hin gubattan.

¹¹ Ee Nanawwe'e, nami Waaqa irratti mala dhowu,

* : Gadhaa jabaattu: Gadhi-jabeenni kun hammeenna mudhisa. † 1:3 Bukuu: Yookiin awwaara.

- ka waan hantuu gorsulle,
si keessaa ka'e.
- ¹² Mootiin Waan Maraa,
kolbaa ifii Israa'eliin, «Worri Asoorii hunnaameyyi'ii fi
hedduu te'anulle,
ijjeefamanee, hin badan.
Kolbaa tiyya, tanaan dura ani isin rakkisulle,
yoona deebi'ee isin hin rakkisu.
- ¹³ Amma ani waanjoo worra Asoorii isin irraa cassee,
wodaroo sibiilaa ta ittiin hidhantane
isin irraa hin ciccira» jedhe.
- ¹⁴ Mootiin Waan Maraa marroo worra Asoorii,
«Haganaa achi
sanyiin maqaa keessan waansittu hin jiraattu;
galma waaqota keessanii keessaa
waaqota dharaa fakkii bocantee fi
fakkii baqisiifantee hujantee hin balleessa.
Isin worra bu'aa hin qanne waan teeteef,
boolla awwaalaa isiniif hin qota» jedhee ajaja baaseera.
- ¹⁵ Kunoo, ergamaan oduu gammadaa odeessu,
ka nageya lallabu gaara gubba'aa dhufaara.
Kolbaa Yihuda'aa! Diinni keessan ijjumaa waan badeef,
haganaa achi biyya teessan hin qabatanu.
Tanaaf, gammadaan jilifadha'a.
Waan Waaqaaf kenniisaaf waadaa galtane Waaqaaf kenna'a.

2

Badii Nanawwe'ee

- ¹ Nanawwe'e, ka balaa sitti buusu dhufeera.
Kushee teeti jabeeffadhu;
karaa eegi;
hidha keeti hidhadhu;
lolaaf qopheeffadhu.
- ² Saantuun sanyii Yaaqoobii saantulle,
woynii isaaniille balleessitulle,
Waaqi ilmaan Yaaqoobii ka te'ane,
ulfinna Israa'elii hin deebisa.
- ³ Loltooti diinaa wontee diintuu qabataneeran;
isaan woyaa dhiillee uffataneeran;
yennaa isaan lolaaf qophowanu,
sibiilli garreettaa farda isaanii hin billiccisa;
woraanni isaanille hin mirmiffama.
- ⁴ Garreettoti fardaa karaa irra ariiti'iin gulufan;
woldeennaa kara'aa keessa asii fi achi gulufan.
Isaan umeessaa* bobe'u fakkaatan;
akka balaqqeetti'ii gugatan.
- ⁵ Mootiin Asoorii loltoota ifii beekkantuu hin waama;
isaan dhufaaranuun karaa irratti hin gufatan;
gara dalleya qacha'aa hin gulufan;

* **2:4** *Umeessaa: Yookiin Xassaa*

- wonteelle qophootteerti.
⁶ Karri karaa lagaa ba'a jettee banante;
manni mootumma'aa jige.
⁷ Nanawween salphatte;
mootittiin isi'ii booji'antee fudhatante;
tajaajiltooti isi'ii ta dubarti'ii,
qoonqoo gaddaa
ta akka qoonqoo saphaliisaa dhageessisan.
Gaddaan qoma ifii dhodhowatan.
⁸ Akka bisaan naanniga cassee,
kolbaan Nanawwee keessaa hin baqatti!
«Dhaabbadhu! Dhaabbadhu!» jedhanee iyyan,
ammoo nami tokkolle hin deebi'u.
⁹ Karri qachaa sanii baca'a,
qabeenni adda addaalle tuula'a;
Dhaqa'aatii meeti'ii fi worqii saama'a!
¹⁰ Nanawween baddee, ontee, duwwiteerti!
soda'an baqanee, jilbille sheephiseera.
Neenqoleen marti hin hollatti;
fuulli nama maraatuu shankallowe!
¹¹ Mandheen neenqaa,
godii isaan dardaroota neenqaa itti nyaachisanu,
latti neenqi kormii fi dhalaan
sodaa malee keessa deddeemanu fakkaattu
qachaa sun amma meet ree?
¹² Neenqi ilmoolee ifitiif foon kukkuta;
neenqa dhala'aafille ka gewu adansa.
Inni goda ifii waan adanseen,
boolla ifille foon kukkutameen guuta.
¹³ Nanawwe'e! Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara dade, «Kunoo, ani si morma! Garreettaa fardaa keeti ibiddaan guba. Loltoota teeti shallaaga'aan fixa; waan ati adanfattu mara ani lafa irraa balleessa; qoonqoon ergantoota teetiille haganaa achi hin dhage'antu» jedha.

3

Nanawwe'eef Aanne'e

- ¹ Qachaa dhiiga namaa dhangalaasu,
ka sobaan guutame, ka saantu'uun guutame,
ka boojuu'uun guutame, Nanawwe'eef aanne'e!
² Worcaqqeessi* liche'eetii fi kokokkeessi korbo'oo,
hididdeessi fardaatii fi gugukkeessi garreettaa fardaa,
hin dhage'ama!
³ Abbootiin fardaa hin gulufan,
shallaagaan isaanii hin billiccisa,
woraanni isaanii hin calaqqisa;
nami hedduun waan ijjeefameef,
reeffi tuulameera;
reeffi hedduu waan te'eef,
gufuu isaanitti te'eera!
⁴ Ati ta xanoo xantu,
ta ilatti toltu sababa sagaagala keetii tun teete;

* **3:2** *Worcaqqeessi*: Yookiin dhuqaasi

- ati sagaagalummaa teetiin kolbaa garboonsitee,
xanoo teetiin gosa biyya adda addaalle gurgurte.
- 5 Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara dade,
«Nanawwe'e, ani si morma;
uffana keeti si irraa shooqee[†] fuula keetitti buqa[‡];
gosi marti qullaa keeti,
mootummaalle salphinna keeti akka dhaggitu godha.
- 6 «Ani huura[§] sitti gata,
si tuffadha^{*},
akka si daaw'atanulle godha.
- 7 «Achiin duuba worri si daaw'ate marti si irraa baqataa,
«Nanawween baddeerti; eentu bowaaf?» jedhan;
ka si jajjabeessu ani eessaa siif dhagga ree?» jedhe.
- 8 Nanawwe'e, ati qachaa Tebesii[†],
ka laga Nayilii[‡] biraa,
ka bisaan marseeru,
ka kaabiin isaa abbaaya'aa,
ka bisaan akka dalleyaa marseeru hin caaltaa?
- 9 Qachaan Tebesii loltoota Itoophiya'aatii[§] fi Gibxi'ii
ta haga hin qanneen eegameera;
Worri Fuxiitii fi Liibiya'aalle qarqaartota Tebesii ti.
- 10 Te'uu malee worri Tebesii qabamanee,
booji'amanee;
daa'immaan isaaniille
woldeennaa kara'aa mara irratti,
dhaka'aan tumamanee jijjiganeeran;
qondaaltota Tebesii irratti hixaa buufataneeran;
worri gugurdaan Tebesii marti
wodaroo sibiilaatiin hidhaman.
- 11 Nanawwe'e, atille hin machootta,
gara dhokaataa hin ideenta;
diina duraa addee itti baqattu
hin barbaaddatta.
- 12 Kusheen teeti mara akka muka harru'uu
ka midhaan qara bilchaatee ti.
Yoo hargufame,
afaan worra nyaatuu keessa harca'a.
- 13 Loltoota teeti ilaali;
isaan akka dubarti'ii ti.
Balbalti biyya teetii
diinota keetiif badhattee bananteerti;
danqaraa balbalootaalle ibiddi fixeera.
- 14 Diinaan waan marfantuuf,
bisaan woraabbadhu,
kushee teeti jabeeffadhu;
biyyee faaraa sukkuumii,

[†] 3:5 Shooqee: Saaqe. [‡] 3:5 Buqa: Yookiin uffis. [§] 3:6 Huura: Xuri. ^{*} 3:6 Tuffadha: Malch. [†] 3:8 Tebes: Amma Amoonijedhama; qachaa guddaa kaaba biyya Gibxi'ii jiru. [‡] 3:8 Nayili: Itoophiyaa keessatti Abbayijedhama. [§] 3:9 Itoophiyaa: Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali.

- dhiitii qopheessii,
faara loobame huji!
15 Achitti ibiddaan gubata;
shallaagaalle'een kukkutanta.
Ibiddi akka awwaannisaa si fixa.
- Akka awwaannisaatii fi
akka korophiisaa horuma hori!
16 Ati urjoota gubba'aa caalaa,
daldaltoota teeti fakkanfatteerta.
Isaan akka awwaannisaa
biyya qorranee ka'anee badan.
17 Eddoti teeti akka korophiisaa ti;
qondaaltoti teeti akka korophiisa
Guyyaa qabbanaa
dalleya irratti heechatee ti.
Yennaa aduun baatu, koolaan ka'ee deema;
gara inni dhage eennuulle hin beeku.
- 18 Ee mootii Asoorii,
eeddoti teeti muganeeran;
qondaaltoti teeti dunquuqqowaneeran.
Kolbaan teeti gaara irratti bittinnootteerti;
nami isaan wolitti qabulle hin jiru.
19 Miidhama keeti nami goomsu hin jiru;
madaan teeti hin fayyitu.
Nami oduu jinnana keeti dhage'e marti
gammadaan harka dhowa.
Nami gadhi-jabinna keeti ka muummee hin qanne
jalaa bayeeru jiraa ree?

Kitaaba Anbaaqoomii Raagichaa Seensa

Dubbiin raagaa ta Anbaaqoomii tun dhaloota Kiristoosiitiin dura gara dhuma jaarraa torbeesso'ootitti dhutte. Anbaaqoom hunnaan bulchiisa kolbaa gadhi-jabeeyyii hunnaan nama irratti kaatu tanaatiin guddoo jeeqamee, «Worri gadhi-jabeeyyii hunnaan nama irratti ka'u kun, worra isaan caalaa balchoota te'ane yennaa balleessanu maaf cadhittee ilaalta?» jedhee Mootii Waan Maraa gaafate (1:13). Mootiin Waan Maraalle deebisee, «Ani waan mara yennaa tiyyatti huja; haga sanitti, balchaan dhugeeffannaa ifitiin le'a» jedhe (2:4). Kutaa kitaaba kanaa keessaa ka hafe, marroo raaga badii gadhi-jabeeyyii hunnaan nama irratti kaatu irratti dhagqabu'uu jirtuu ka himu yoo te'u, gara dhuma kitaaba kanaatitti, marroo guddinna Waaqaatii fi marroo dhugeeffannaa jadduu qabaatiisaa faaruu daadimatiisaatitti jira.

Haadhoo Dubbi'ii

Iyyata Anbaaqoomiitii fi Deebii Mootiin Waan Maraa isaaf kenne *1:1–2:4*
Badii worra Balchaa Hin te'inii *2:5-20*
Daadimata Anbaaqoomii *3:1-19*

¹ Ergaan Mootiin Waan Maraa raagicha Anbaaqoomitti mudhise tana.

Anbaaqoom Marroo Mura'a Haqa Hin qannee Iyyate

² «Ee, Mootii Waan Maraa! Qarqaarsa keeti gaafatiisaa fi marroo worra hunnaan nu bulchuu yoo sitti iyyadhu, ka nuu dhageettuu fi nu fayyittu yoom ree?

³ Maaf rakkoo akkasii akka dhaggu na goote? Dabi yennaa hujamu attam cadhittee ilaalta? Badi'ii fi hunnaan nama bulchanuun dhagga; wol dhabaa fi moromaan hin jiran.

⁴ Tanaaf seerri laashowee, muraan dhuga'aa ijjumaa dhabantee, hamaaleyyiin balchoota marsanee, muraan daddeerti» jedhe.

Deebii Mootiin Waan Maraa Kenne

⁵ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa kolbaa ifitiin, «Gosa biyya adda addaa ta adaala keessanii ilaala'a; waan dhaggitanu maratti maadeffadha'a; eennulle adoo isinitti himelle'ee, waan isin dhugeeffatuu hin dandeenne bara keessan keessatti ani hin huja.

⁶ Kunoo, ani worra Baabilonii gadhi-jabeeyyi'ii fi ariifataa, ka lafa worra dhibi'ii qabatiisaaf lafa duudii keessa yaa'anuu hin kaasa.

⁷ Isaan worra nama sodaachisuu fi rifachiisu; isaan ulfinna ifitiif ifumaaf seera baafatan.

⁸ «Fardoona isaanii qeeransa caalaa ariifatti; yayyii galgalaa caalaalle hin sodaachitti. Abbootiin fardo'oo ta isaanii, akka risaa waan nyaatu butatiisaaf irii gad xinniquu, fagoo irraa gulufaa hin dhufan.

⁹ «Loltooti isaanii marti hunnaan nama irratti ka'iisaaf dhufan; loltooti isaanii akka qilleensa goomole'ee gara duraa yaa'an. Boojuun isaaniille akka maansaa baca'a.

¹⁰ Isaan moototatti hin murgan; bulchitootalle hin tuffatan. Isaan kushee maratti kollaa, biyyee kushee san irratti tuulane, isaan hin booji'an.

¹¹ Achiin duuba worri yakkaameyyiin ka hunna ifii waaqota ifii godhatanu, akka qilleensaa haxowamanee taran» jedhe.

Anbaaqoom Ammalle Mootii Waan Maraatiitti Iyyate

¹² «Ee Mootii Waan Maraa, ati Waaqa woyyicha ka durii jalqaddee jirtu; ati ijjumaa hin duutu. Worri Baabilonii mura'a teeti hujii irra akka oolchanuuf ramadde; ati rasaan keenna, akka isaan nu adabanuuf baallii isaaniif kennite.

¹³ Ilti teeti guddoo qulluu waan teeteef waan hantuu ilaaliisaaf hin dandeettu; ati wonni hantuun hujantuun dhaggaa hin ossitu. Maarre maaf worra maltoole'etti cadhi jettee ilaalta? Worri hamaaleyyiin worra isaan caalaa balchoota te'ane yennaa liqinsanu maaf cadhitta ree?

¹⁴ «Ati kolbaa akka qurxummii abbaayaa keessaatii fi akka dada abbaayaa keessaa ta sooreessa malee munyuuxxuu gooteerta.

¹⁵ Worri Baabilonii akka qurxummii malxaqqo'oon qabanuu isaan qaban; caccoo ifitille'een isaan harkisane, waan itti kuufatanu keessatti wolitti qabatan. Caccoo ifii keessatti isaan waan qabataneef gammadanee ilillisan.

¹⁶ Tanaaf caccoo ifitii fi waan ittiin kuufatanuun qananumma'aan waan le'anuuf, cacco'oof ciincaa dhikeessan; waan itti kuufatanuuf hixaana aarsan.

¹⁷ Isaan caccoo hargufuma hargufaa marartii malee gosa biyya adda addaa balleessaa le'anootii ree?» jedhe.

2

Deebii Mootiin Waan Maraa Anbaaqoomiif Deebise

¹ Ani xelleephoo tiyya irra hin dhaabbadha; dalleya qacha'aa ka dhaka'aa irralle'etti addee hin qabadha'a; waan Mootiin Waan Maraa naan jedhu, iyyata kiyyaaf deebii inni naa kennu hin eegadha.

² Mootiin Waan Maraa naaf deebisee, «Wonni ani sitti mudhisu kaso'otti akka dubbifantu faara baxxicha irratti barreessi.

³ Sababille mudhiin tun yennaa itti muummottu eegatti; isiin marroo guyyaa muumme'ee dubbatti; isiin dharaa moti. Ta turtu fakkaattulle eegadhu. Dhugumaan hin dhutti; hin turtulle'e» jedhe.

⁴ Worra kooru ilaala'a; yaadi isaanii qajeela'aa moti; balchooleen ammoo dhugeeffannaa ifitiin le'an.

Jinnana Worra Balchaa Hin te'ini

⁵ Dhugumaan karri nama soddi; nami kooru foora hin qabu; akka boolla awwaalaa joljola'a; akka du'aa ijjumaa hin quufu; inni gosa biyya adda addaa mara ifiif wolitti qabata; kolbaa maralle hin booji'a.

⁶ Nami duudiin nama akkasii kanatti kollaa itti murgaa, «Ka waan keeti hin te'in tuulattu, meya hunnaan fudhatteen haga yoomii ifi duroonsita?

⁷ «Worri gatii si irraa qabu dedha sitti hin ka'uu? Isaan si hin sheephisiisanuu? Achiin duuba waan ati qaddu mara hin fudhatanuu?

⁸ Ati kolbaa gosa biyya adda addaa saantee, dhiiga kolbaa heddu'uu dhangalaattee, qachootaa fi waan isaan keessa jiru duudiille waan balleessi-teef, worri hafe si hin saama.

⁹ «Nama bu'aa haqa hin te'iniin mana keeti ijaarrattee, balaa jalaa bayiisaaf addee ol jettetti mana ka hujattu si'iif aanne'e!

¹⁰ Ati mala dhoottee kolbaa hedduu ijjeesiisaan, mana keeti irratti salphinna fiddeerta; ifi irralle'etti cubbuu fiddeerta.

¹¹ Tanaaf dhakaan dalleyaa dalleya irraa si'itti hin iyya; utubooti manaalle jalaa hin qaban.

¹² «Nama dhiiga namaa dhangalaasiisaan qachaa ijaarrattu, yakkaalle'een qachaa guddicha ijaarrattu si'iif aanne'e!

¹³ Mootiin Waan Maraa waan mara ajaju, wonni nami hujatu ibiddaaf, wonni gosi biyya adda addaa itti eloottu waan bu'aa hin qanneef akka te'u hin goonee ree?

¹⁴ Akkuma abbaayaan bisaaniin guutantu, lattille ulfinna Waaqaa beeki-isaan hin guutanti.

¹⁵ «Nama nafa namaa qullaa ilaaliisaaf jettee, mufii teeti akka daadhii woyni'ii jaddu'uu isaaf kennitee, haga inni machowutti ka isa obaattu siif aanne'e!

¹⁶ Atinuu untee machoottee hin gatantarta*; addee ulfinnaa salphinna hin uffatta. Mootiin Waan Maraa muduunuu adabbi'ii jadduu akka untu si hin godhee, ulfinna keeti gara salphinnaatitti hin jijjiira.

¹⁷ Ati dhiiga namaa dhangalaatee, biyyaa fi qachoota, waan isaan keessa jiranulle waan balleessiteef, hunnaan ka'iis ati Libaanosi irratti kaate sitti garagalati. Balleessaan ati bineensota balleessitelle si hin bararassiti.

¹⁸ «Bu'aan waaqa dharaa maan? Inni waan harka namaatiin bocomee hujame; dhara malee wo isa irraa hin dhaggamu; nami isa bocee huje waaqa dharaa ka woy hin dubbannetti addatiis isaa bu'aa maan qaba ree?

¹⁹ Waan muka irraa bocamee hujameen, «Dammaqi!» yookiin dhakaa lubbuu hin qanneen, «Ka'i!» ka jettu siif aanne'e! Inni si barsiisuu dande'aa? Kunoo, waaqi dharaa worqi'ii fi meeti'iin gonfameera; hafuuralle hin qabu.

²⁰ «Mootiin Waan Maraa ammoo Galma woyyicha ifii keessa jira; latti duudiin fuula isaa duratti cadhittuu ti» hin jedhan.

3

Daadimata Anbaaqoomii

¹ Daadimati Anbaaqoomii raagichaa ka faaru'uun dhikaate asii gad jira.

² Ee Mootii Waan Maraa kiyya,
hujii maade'ee ta ati hujje mara dhage'ee guddoo sodaadhe;
ammalle bara keennatti hujii teeti ta durii ede'ii huji;
bara kennalle'etti akka beekkantu godhi;
yennaa aartulle nu mararfadhu.

³ Waaqi woyyichi biyya Temaanii,
gaara Phaaraan irraa hin dhufa;
Ulfinni isaa ol-gubbaa golleera;
leellisi isaalle lafa guuteera.

⁴ Ifi ulfinna isaa akka ifa adu'uu ti;
harka isaa ka hunni isaa keessa dhokatteertu keessaa
balaqqeessi hin baya.

⁵ Balaan isa dura deema;
dhukkubi nama fixu isa duubaan deema.

⁶ Yennaa inni dhaabbatu latti hin tachooti;
yennaa inni isaan ilaalu
gosi biyya adda addaa hin hollatti.

Gaaroti durii durii hin sigigan;
kooboti durii durii ta inni irra deemaa turelle
gad hin lixan.

Karaan inni irra deemmu ammoo
bara baraan jiraata.

⁷ Worri Itoophiya'aa* rakkatuun,

* **2:16** Gatantarta: Yookiin tintimt. * **3:7** Worri Itoophiyaa: Afaan Ibrootaatiin Kuushan jedha.

- worri Miidiyaaniille hollatuun dhagge.
- ⁸ Ee Mootii Waan Maraa, ati lagatti hin aartee?
Yennaa fardoolee teeti yaabbattee,
garreettaa fardaa ka injifachaa keetii irra teette,
abbaaya'atti guddoo aarteetii?
- ⁹ Ati guubee[†] teeti qopheeffattee
daaya keeti buqqifattee,
lagaan lafa gargar tarsaatte.
- ¹⁰ Gaaroti si dhagganee hollatane;
lolaan roobaa lafa haxowaa tare.
Bisaan abbaaya'aa shookkisee,
danbaliin isi'iille ol kaate.
- ¹¹ Yennaa daaya keeti isaanitti calalatee,
eboon teeti isaanitti itte
adu'uu fi jiin adduma jiranutti dhaabbatane.
- ¹² Ati aari'iin lafa irra ideenta;
aariille'een gosa biyya adda addaa hin dhidhiitta.
- ¹³ Ati kolbaa teeti fayyisiisaaf,
ka muudame sanille fayyisiisaaf baate.
Sooressa worra hamoole'ee butuchitee,
hordofattoota isaalle balleessitee,
mata'aa haga miilaatitti qullaa isa hamburte.
- ¹⁴ Akka hobonbolatti'ii nu bittinneessiisaaf ka dhufe,
Yennaa loltooti isaa akka hobonbolatti'ii
nu bittinneessiisaaf,
hiyyeeyyii dhokataneeranu fixanee
itti gammadiisaaf dhufane;
ati woraanuma isaatiin sooressa isaanii woraante.
- ¹⁵ Yennaa ati fardoo teetiin abbaayaa dhidhiitte,
abbaayaan raafante.
- ¹⁶ Ani waan kana duudii dhage'ee, roromme;
qoonqoo tana irraa ta kaate hidhiin tiyya hollatte.
Lafeen tiyya shante;
miilli kiyyalle lelleqe.
- Te'uu malee yennaan worri nu miidhu
adabamu haga dhuttu ossaan hin eegadha'a.
- ¹⁷ Muki harru'uu midhaan buusuu dhabulle,
muki woyni'ii midhaan buusuu dhabulle,
muki ejersaalle midhaan kennuu dhabulle,
fichaan midhaan baasuu dhabulle,
hooleen gooree keessaa dhabantulle duwwaa hattulle
loon moonaa keessaa dhabamanulle,
¹⁸ tun marti teetulle
ani Mootii Waan Maraatitti hin gammada;
Waaqa fayyisaa kiyyatti gammadee firinxiixa.
- ¹⁹ Mootiin Waan Maraa Waaqi hunna tiyya.
Inni miila kiyya akka miila gadansaa hin jabeessa;
gaara irralle akka deemmu na hin godha.

Sooressitoota faarsitootaatiif: Meya ribu'uutiin ta faarfatantu.

[†] 3:9 *Guubee*: Yookiin buube.

Kitaaba Sefaaniyaa Raagichaa Seensa

Sefaaniyaan raagichi ergaa ifii ka dabarse dhaloota Kiristoosiitiin dura gara dhuma jaarraa torbeesso'ootitti yoo te'u, yennaa san mootichi Yosiyaa dhaloota Kiristoosiitiin dura woggaa dhibba jaa fi diddamii tokkotti, haar-effama dhugeeffanna'aa godhiisaan dura, woggaa kudhan dursee te'uu hin dhabu; kitaab kun raaguma duri raagameeru ifi keessaa qaba; innille biyyi Yihuda'aa waaqota dharaa waan waaqonfatteef, yennaa adabam isii irra dhaqqabu, badi'ii fi barbadaawuun akka isii irra gewu ka mudhisu. Mootiin Waan Maraa yennaa san gosa biyya adda addaa dhibille hin adaba. Diigami-isi Yerusaalem irra dhaqqabulle, yenna'aan duuba qachaan Yerusaalemi addee duriititti hin deebi'a; worri ifi gad qabuu fi balchooti achi hin le'an.

Haadhoo Dubbi'ii

Yihudaa Irratti Guyyaa Muraa Mootii Waan Maraa *1:1-18*

Cubbuu Irraa Deebi'uu *2:1-3*

Muraa Gosa Biyya Adda Addaa ta Adaala Yerusaalemiititti Murantu *2:4-15*

Cubbuu Yerusaalemiitii Fi wodoo Yerusaalemi *3:1-13*

Faaruu Gammadaa *3:14-20*

Yihudaa Irratti Guyyaa Muraa Mootii Waan Maraa

¹ Kun jecha Mootii Waan Maraa ka bara Yosiyasiin ilmi Amoonii mootii Yihuda'aa te'eeruun gara Sefaaniyaa ilma Kuushii, akaakoo Gedaaliya'aa, abuuboo Amaariya'aa, abutturroo Hisqiyasii dhufe.

² Mootiin Waan Maraa, «Ani waan mara lafa irraa haxowee hin balleessa;

³ namaa fi horii, allaatotaa fi qurxummiille haxowee hin balleessa; worra hamoolee garagaggalchee, sanyii namaa lafa irraa hin balleessa.

⁴ «Ani kolbaa Yerusaalemiitii fi Yihuda'aa mara hin adaba. Baraaree worra Ba'aal waaqonfatuutii fi maqaa hayyoota isa tajaajiltuu achii hin balleessa.

⁵ Worra heellichoo manaa* gubbaa bayee aduu, ji'aa fi urji'iif sagadu hin balleessa. Worra na waaqonfataa maqaa kiyyaan kakataa, achiin duuba ammoo maqaa waaqa dharaa Miilkomiitiin kakatulle hin balleessa.

⁶ Worra ana Waaqa hordofuu didee duubatti deebi'e, worra na hin barbaadanne yookiin akka isaan soressu worra na hin gaafanne hin balleessa» jedhe.

⁷ Guyyaan Goottaa Mootii Waan Maraa waan dhikaateef, Mootii Waan Maraa duratti cadhisa'a! Mootiin Waan Maraa kolbaa ifii akka horii ciinca'aaf qalamuu dabarsee kenniisaaf qopheesseera; inni diina kolbaa Yihuda'aa saamu adda baasee qopheesseera.

⁸ Mootiin Waan Maraa, «Guyyaa ciinca'aa sanitti ani Mootiin Waan Maraa qondaaltotaa fi ilmaan mootichaatii fi worra waaqota orma waaqonfatu maraayyuu hin adaba.

⁹ Guyyaa san worra gulantaa balbalaa irra utaaluu mara, mana goottolee ifii meyaan guutiisaaf, worra wo hatuu fi nama ijjeesu mara, guyyaa sanitti ani hin adaba» jedha.

¹⁰ Mootiin Waan Maraa, «Guyyaa sanitti, karra karra qurxummi'ii jedhantu duraa, iyyi, kutaa qacha'aa haareya keessaa, wiiccifati, kooba irraa qoonqoo waan caccabuu guddoo hin dhageettan.

* **1:5 Heellichoo:** Heellichoon mana biyya sanii diriirtu'u.

¹¹ Isin worri addee dikko'oo keessa leetanu, daldaltooti teessan martinuu waan badaneef, worri meetii daldalanu martinuu waan du'aneef wiicci-fadha'a!

¹² «Guyyaa sanitti ani issa'aan Yerusaalem hin barbaada; namoota isi'ii worra akka daadhii woyni'ii ta cumaa irratti hattee te'ane, worra, «Waaqi waan dansaa yookiin hantuulle hin huju» jedhee yaadu hin adaba.

¹³ Karri isaanii hin saamama; manni isaanii hin diigama; mana hin ijaar-ratan; ammoo keessa hin le'anuu; muka woyni'ii hin dhaabbatan; ammoo daadhii muka woynii sanii hin unanu» jedha.

¹⁴ Guyyaan Mootii Waan Maraa guddaan dhikaateera; ariifatee dhufaara; guyyaan sun guddoo ka sodaachisu; guyyaa Mootii Waan Maraa sanitti loltooti jajjabootinuu sodaatanee, iyya jadduu iyyan.

¹⁵ Guyyaan sun guyyaa mufi'ii, guyyaa gargalaatii fi farriisaa, guyyaa diigamaatii fi badi'ii, guyyaa dimimmisaatii fi dukkanaa, guyyaa duumen-saatii fi dukkana dimmaa ti;

¹⁶ guyyaa san qachoota kushee dhaka'aa qabanuu fi xelleephoo dhaka'aa dhedheertuu irratti qoonqoon tultulla'aatii fi iyya lolaa hin dhage'ama.

¹⁷ Mootiin Waan Maraa, «Ani namoota irratti gaargala hin fida, isaan ana Mootii Waan Maraa waan yakkaneef, akka namoota balla'aa hin deeman; dhiigi isaanii akka buku'uu hin lola'a; reeffi isaanii akka kosi'ii hin gatama» jedha.

¹⁸ Guyyaa mufii Mootii Waan Maraa sanitti meetiin isaanii yookiin worqii isaanii isaan fayyisuu hin dande'anuu; biyyi lafaa duudiin ibidda aarii isaatiin hin baddi; inni worra lafa irra le'anuu mara dedhuma hin fixa.

2

Cubbuu Irraa Deebi'uu

¹ Isin gosa qaanii hin qanne, wolitti qabama'aa, wolitti dacha'a'a!

² Akka huura qilleensaan haxowamuu adoo hin haxowamin, mufiin Mootii Waan Maraa ta akka ibiddaa bobeettu adoo isinitti hin dhufin, guyyaan mufii Mootii Waan Maraa jabaan adoo isinitti hin dhufin wolitti qabama'a!

³ Isin worri gad ifi qabee lafa irra le'u, ka ajaja isaatiif ajajantanu, hujii balchittii huja'a; Mootii Waan Maraa duratti ifi gad qaba'a! Guyyaa mufii isaa san isin hin milixxan fa te'a.

Muraa Gosa Biyya Adda Addaa Ta Adaala Yerusaalemiititti Murrantu

⁴ Qachaan Gaaza'aatii fi Ashiqalonii duwwaa hin te'an; kolbaan Ashidoodii orra'aan oofamanee hin bayan, kolbaan Eqroonille qachaa ifii keessaa hin oofaman.

⁵ Ee, worra abbaayaa qarqaraa gosa Keretii isiniif aanne'e! Ee, Kana'aanii lafa Filisxeemotaa, «Ani isin hin balleessa; nami tokkolle hin hafu» ka jedhu, jechi Mootii Waan Maraa isin irratti dubbatameera.

⁶ Latti teessan ta abbaayaa qarqaraa addee horiin dheedu, kaloo tissi-tootaatii fi gooree hooloti itti galanu hin teeti.

⁷ Sanyiin Yihuda'aa baraaheen hatte lafa abbaayaa qarqaraa teeti san hin qabatan. Horiin isaanii achi hin dheedan; tissitooti halkan mana worra Ashiqalonii keessa hin bulan. Mootiin Waan Maraa Waaqi isaanii isaaniif hin yaadata; worra isaan duraa booji'amelle isaaniif hin deebisa.

⁸ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara dade, «Ani murgoo worra Mo'aabii, arraba worra Amoonille ka isaan kolbaa tiyya arrassanee, lafa isaanii qabatiisaaf itti kooranelle dhage'eera.

⁹ Tanaaf, ani dhugumaan jiraata'a; worri Mo'aabii akka worra Sodoomii worri Amooniille akka worra Gomora'aa addee midhaan ijjumaa itti hin lannee fi addee boolla sooddaa, addee haga bara baraa diigante hin te'an; kolbaan tiyya worri lubbu'uun hafe karra isaanii hin saaman; lafa isaanille hin dhaalan» jedha.

¹⁰ Kolbaan Mo'aabiitii fi Amoonii kolbaa Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara dadee irratti murganee waan kooraneeef gatii koora ifii hin dhaggatan.

¹¹ Mootiin Waan Maraa waaqota dharaa ka lafa isaanii mara yennaa balleessu, isaan biratti ka sodaatame hin te'a; gosi biyya adda addaa ta cinaa abbaaya'aatii fi oddoolotaa marti tokko tokkoonuu addee jiranutti isaaf hin sagadan.

¹² Isinille, ee worra Itoophiya'aa*! Shallaagaa kiyyaan hin ijjeefantan.

¹³ Inni hunna ifitiin worra kaabaa Asoor hin balleessa; Nanawweelle onsee akka goomole'ee hin gossa.

¹⁴ Hori'ii fi bineensoti adda addaa achi hin ciisan; urungu'uu fi harraaqessi utubaa isi'ii irra hin bulan; qoonqoon isaaniille karaa foddada manaatiin hin dhage'ama; karaa balbalaatiin kosiin hin tuulama. Utubaan dareeraa ka hindheensaa duwwaa hin hafa.

¹⁵ Qachaan kun ka nageyaa fi gammadaan le'u; ka ifiin, «Ana malee nami dhibiin hin jiru» jedhee yaade, amma ammoo attamiin addee ona bineensi keessa le'u te'e? Worri karaa san dabaru martinuu, harka ifii ol qabee itti hin murga.

3

Cubbuu Yerusaalemiitii Fi Wodoo Yerusaalemii

¹ Qachaa Yerusaalemii cubbicha, batticha nama cunqursuuf aanne'e!

² Inni namaaf hin dhage'u; gorsa namaa hin fudhatu; Mootii Waan Maraatiitti hin addatu; gara Waaqa ifille hin dhikaatu.

³ Qondaaltoti isaa akka neenqa dhangaa dhowuu ti; abbootiin mura'aa ta isaalle akka yayyii galgalaa ta womaa boruuf hin hamburannee ti.

⁴ Raagoti isaa koorameeyyi'i; isaan worra hin addatanne; hayyooti isaa waan woyyuu te'e batteessan; seeralle hin dassan.

⁵ Mootiin Waan Maraa balchichi ammoo isa keessa jira; inni dokonkora hin qabu; inni ganama mara mura dhuga'aa mura; guyyuma guyya'aan hin dadhabu; dabaaleyyiin ammoo qaanii hin beekanu.

⁶ Mootiin Waan Maraa, «Ani gosa biyya adda addaa balleesseera; Xelleephoo* isaanii diigeera; karaa isaanii akka nami tokkolle irra hin ideenne duwwaa godheera; qachooti isaaniille onnee ka nami tokkolle keessa hin jirre te'aneeran.

⁷ Ani, «Dhugumaan qachaan Yerusaalemii na hin sodaata; adabbii tiyyalle hin fudhata; worri achi keessa jiranulle ijjumaa hin badanu; adabbiin tiyya martille isaan hin dhaqqaddu» jedheeraayyu; qachaan sun ammoo ammalle hujii hantuu san hujjiisaaf dharraa qaba.

⁸ «Tanaaf ani Mootiin Waan Maraa, «Guyyaa ani dhugaa baasiisaaf ka'u sanitti na eegadha'a! Ani gosa biyya lafaa wolitti qabiisaaf, mootummootalle wolitti raree, aarii tiyya ta bobeettu maraayyuu isaan irratti dhangalaasiisaaf murteeffadheera; biyyi lafaa martinuu hinaaffaa tiyya ta akka ibid-daatiin hin gubatti» jedheera.

* **2:12 Itoophiyaa:** Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali.
ta isaan irra tee'anee diina ifii eegatanu.

* **3:6 Xelleephoo:** Xelleephon tun

⁹ «Yennaa san ani kolbaa gosa biyya adda addaa mara maqaa kiyya akka waamanu, harka wol qabatanee akka ana tajaajilanu dubbii qullittii akka dubbatanu isaan hin godha.

¹⁰ Kolbaan tiyya worri bittinnowe, na waaqonfatiisaaf, lagoota Itoophiya'aa[†] gamaa, kennansa naaf hin fidan.

¹¹ Guyyaa sanitti ani worra koora ifiititti gammadu odduu teessanii waan baasuuf, isin waan na yakkitane san maraaf hin qaanottanu; gaara kiyya woyyicha irrattille haganaa achi ifi hin saaddanu.

¹² Kolbaa gad ifi qadduu fi ta hin koorre, ta ana Mootii Waan Maraatitti addattu ammoo isin oddu'utti hin hambura;

¹³ Israa'elooti worri hafane haganaa achi hin yakkanu; dharalle hin dubbatanu; namalle hin sobanu; isaan nyaatanee hin irkatan; ka isaan sodaachisulle hin jiru» jedhe.

Faaruu Gammadaa

¹⁴ Ee gumii Xiyoonii, faarfadha'a;
ee kolbaa Israa'elii iyya'a!

Ee kolbaa Yerusaalemii,
gadhaa tokkochaan gammadaan ilillisa'a!

¹⁵ Muraa isinitti murate san
Mootiin Waan Maraa isin irraa kaaseera;
diinota keessanille si irraa deebiseera;
Mootiin Waan Maraa mootiin Israa'elii
isin waliin waan jiruuf,
haganaa achi miidhaa tokkolle hin sodaattanu.

¹⁶ Guyyaa sanitti namooti Yerusaalemiin,
«Ee Xiyoon hin sodaatin!
Harki keeti hin laashowin!

¹⁷ Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti si waliin jira;
hunni isaa injifannoo sii kenniti;
inni guddoo sitti hin gammada;
jaalala ifitiin jiruu teeti hin haarella;
inni faaru'uun si'itti hin gammada» hin jedhan.

¹⁸ Mootiin Waan Maraa ammalle,
«Akka kolbaa guyyaa jilaa gammadduu,
si gammachiisa.
Ani muraa isin irratti ba'aa teete isin irraa hin kaasa.

¹⁹ Ani yennaa sanitti
worra isin cunqursu
maraayyuu hin adaba;
worra naafa hin fayyisa;
worra bittinnowelle wolitti hin qaba.

Qaanii isaanii gara ulfinnaa jijjiiree,
biyyi lafaa duudiin isaan hin leellitti.

²⁰ Yennaa sanitti ani wolitti isin qabee,
biyya teessanitti isin hin galcha;
boojuu teessan,
adoo isin ilaaltanuu
isiniif hin deebisa.

Ani kolbaa gosa adda addaa ta lafa irraa mara oddu'utti,
ulfinnaa fi leellisa
akka dhaggattanu isin hin godha» jedha.

[†] **3:10** *Itoophiyaa*: Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali.

Kitaaba Haagee Raagichaa Seensa

Kitaaba Haagee raagichaa keessatti ergaan gaggabaadduun dhiyaatte tun, ergaa Mootiin Waan Maraa dhaloota Kiristoosiitiin duratti woggaa dhibba shanii fi diddamatti karaa Haagee raagichaatiin dabarse. Kolbaan addee itti baqate irraa deebitee, Yerusaalem keessa le'iisa haga jalqaddee woggoota diqqoo turanulle Galmi Waaqaa akkuma diigameen jiraayyu; tanaaf ergaan ergante akka sooreyyiin kolba'aa Galma Waaqaa haareessituuf, ta kakkaattu; kolbaan haareffamaa fi qulqullummaa ta qabaattu yoo teete, Mootiin Waan Maraa gara duraa nageyaa fi durummaa akka kennuuf dubbata.

Haadhoo Dubbi'ii

Galmi Waaqaa Akka Deebi'ee Ijaaramuuf Ajaja Kenname 1:1-15

Ergaa Jajjabeessiisaatii Fi Addi'ii 2:1-23

Galmi Waaqaa Akka Deebi'ee Ijaaramuuf Ajaja Kenname

¹ Daariyos mootii te'ee woggaa lammeesso'oo, ji'a jayeesso'oo keessatti guyyaa qaraa, Mootiin Waan Maraa karaa Haagee raagichaatiin, ilma She'altii'elii Zarubaabel ka biyya Yihuda'aa bulchuu fi ilma Yozaadaaqii Iyaasuu hayyicha guddaa te'eeruuf dubbate.

² Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara dade Haage'een, «Kolbaan tun, «Yennaan Galmi Waaqaa deebi'ee ijaaramu hin geenne» jetti» jedhe.

³ Tanaaf Mootiin Waan Maraa karaa Haagee raagichaatiin dubbatee,

⁴ «Kolbaa tiyya! Manni kiyya diigameeruun, isin ifiif mana keessan ka seefamee ijaarameeru keessa le'uun yenna'aa ree?

⁵ Me haala keessa jirtanu ilaala'a!

⁶ Bacaa facaafattanee, diqqaa galfattane; hin nyaattan, ammoo hin quut-tanu; hin untan, ammoo dheebuu hin baatanu; woli irratti uffattan, ammoo boojjii hin baatanu; mindaan isin hujjane dhaggattanulle akka waan subba urata qabu keessa keyanee ti.

⁷ Kun maaf akka isin irra geye ilaala'a!

⁸ Amma gara koobotaa ol baya'a; muka mura'aatii fida'a; Galma kiyya deebisa'aatii ijaara'a; anille itti hin gammada, ittille hin galateeffama.

⁹ «Isin baca galfanna jettanee yaadattane; ammoo diqqaa galfattane. Waan isin galfattane sanuu, ani afuufee balleesse. Ani maaf tana godhe see-tan? Galmi kiyya diigameeruun, isin martinuu mana keessan ijaaratiisaaf olii gadi waan fiiddanuuf tun teete.

¹⁰ Tanaaf bokkeenni roobuu dhabee, lattille midhaan baasuu dhadde.

¹¹ Ani lafa irratti, kooba irratti, midhaan irratti, muka woyni'ii irratti, muka ejersaa irratti, waan latti baattu duudii irratti, nama irratti, hori'ii fi waan harki keessan huje duudii irratti, oolaa fideera» jedhe.

Kolbaan Mootii Waan Maraatiif Ajajante

¹² Achiin duuba ilmi She'altii'elii Zarubaabelii fi ilmi Yozaadaaqii Iyaasuun hayyichi guddaan, kolbaa boojuu irraa deebite duudii woliin jecha Mootii Waan Maraa Waaqa ifitii fi Haageen raagichi ka Mootii Waan Maraatiin ergameeru waan te'eef, ergaa karaa isaatiin erganteef ajajamane; kolbaalle Waaqa sodaatte.

¹³ Achiin duuba Haageen ergamaan Mootii Waan Maraa sun, «Mootiin Waan Maraa, «Ani isin woliin jira» jedha» jedhee, ergaa Mootii Waan Maraa kolba'aaf dabarse.

¹⁴ Maarre Mootiin Waan Maraa ayyaana ilma She'altii'elii Zarubaa-beli bulchaa Yihuda'aatii fi ayyaana ilma Yozaadaaqii Iyaasuu hayyicha gudda'aa, akkasuma ayyaana kolbaa boojuu irraa deebite duudi'ii kakkaase. Isaanille Galma Waaqa ifi, ka Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara dadee ijaariisa jalqabane.

¹⁵ Kunille Daariyos mootii te'ee, woggaa lammeesso'oo ji'a jayeesso'oo keessatti, guyyaa diddamii arfeesso'ootitti te'e.

2

Ulfinna Galma Waaqaa Ka Haareyaa

¹ Daariyos mootii te'ee woggaa lammeesso'oo, ji'a torbeesso'oo keessatti, guyyaa diddamii tokkeesso'ootitti, Mootiin Waan Maraa karaa Haagee raagichaatiin dubbatee,

² «Ilma She'altii'elii Zarubaabelii bulchaa Yihuda'aa, ilma Yozaadaaqii Iyaasuu hayyicha gudda'aatii fi kolbaa boojuu irraa deebiteen,

³ «Isin keessaa ulfinna Galma Waaqaa ka durii nami dhaggeeru jiraa? Amma inni maan isinitti fakkaata ree? Inni akka waan ijjumaa hin jirree tokkootii motii?

⁴ Amma ammoo Zarubaabel, jabaadhu! Ilma Yozaadaaqii Iyaasuu hayyicha gudda'a, jabaadhu! Kolbaan biyya keessa jirtanu marti, ani isin waliin waan jiruuf, jabaadha'aa ijaara'a! jedhi.

⁵ Biyya Gibxi'iitii yennaa baatane, «Ani isin waliin hin jiraadha» jedhee, akkuma waadaa isinii gale, ammalle Ayyaanni kiyya isin waliin waan jiruuf hin sodaatina'a.

⁶ «Ani Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Yennaa gabaadduu keessatti ol-gubba'aa fi lafa, abbaaya'aa fi lafa bisaan irra hin jirre ammalle hin tachoosa.

⁷ Gosa biyya adda addaa duudii hin tachoosa; karri isaanii duudiille akka as dhuttu hin godha; ani Galma Waaqaa kana ulfinnaan hin guuta.

⁸ Worqi'ii fi meetiin biyya lafaa duudiin tiyya.

⁹ Ulfinni Galma Waaqaa haareya kanaa ka durii hin caala; anille achitti kolbaa tiyyaaf nageya guutuu hin kenna» jedha» jedhii itti himi.

Haageen Raagichi Hayyoota Gorse

¹⁰ Daariyos mootii te'ee woggaa lammeesso'oo, ji'a sagaleesso'oo keessatti guyyaa diddamii arfeesso'ootitti, Mootiin Waan Maraa, karaa Haagee raagichaatiin ammalle dubbatee,

¹¹ «Ani Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Me waan seerri jedhu hayyoota gaafadha'a!

¹² Nami tokko foon woyyoome* addee ciinca'aa irraa fuudhee woaya'aa maree yoo qabate, maraan sunille daabboo yookiin ittoo†, daadhii woyni'ii yookiin zayitii, yookiin sagalee dhibii yoo tuxxe, sagaleen tun duudiin tanaan hin woyyoontii?» jedha» jedhe.

Hayyooti deebisane, «Waawwo'o» jedhane.

¹³ Haageen ammalle, «Nami reeffa tuqiisaan battowe tokko, sagalee tana keessaa takkaa yoo tuqe, sagaleen tuqante sun hin battoottii?» jedhee isaan gaafate.

Hayyootille, «Ee, hin battootti!» jedhane deebisane.

* 2:12 Foon woyyoome: Foon Waaqaaf kenname jechu'u. † 2:12 Ittoo: Yookiin unata

¹⁴ Achiin duuba Haageen, «Kolbaan tun duudiin akkuma san; tanaaf hujii isaan hujjanuu fi wonni isaan addee ciinca'aa irratti dhiyeessanu ka bat-towe; tana Mootii Waan Maraatiitti dubbate» jedhe.

Mootiin Waan Maraa Eebbisiisaaf Waadaa Gale

¹⁵ Mootiin Waan Maraa, «Waan isin irratti te'e hin hubattanuu? Galma Waaqaa deebittanee ijaariisa adoo hin jalqabin dura,

¹⁶ midhaan kiiloo dhibba lama dhaggatiisaaf, gara tuulaa midhaanii dhaxxane, ammoo midhaan kiiloo dhibba tokko qofa dhaggatane; daadhii woyni'ii litirii dhibba tokko dhaggatiisaaf addee midhaan woyni'ii itti cun-fanu dhaxxane, ammoo daadhii woyni'ii litirii afurtama qofa dhaggattane.

¹⁷ Ani isinii fi waan isin itti eloottane mara gugguufaa, dhukkuba midhaanii ka adda addaatiifi dhakaa bokkeyaatiin dhowe; isin ammoo ammalle cubbuu irraa hin deebine.

¹⁸ Ji'a sagaleesso'oo keessatti adha guyyaa diddamii arfeesso'ootitti, guyyaa hundeen Galma Waaqaa hundeeffamee jalqaba'aatii me hubadha'a.

¹⁹ Midhaan sanyi'ii gootaraa keessa yoo hin jiraatin, muki woyni'ii, muki harru'uu, muki roomaaniitii fi muki ejersaa yoo haga ammaa midhaan hin buusin, ani guyyaa adhaatii jalqabee isin hin eebbisa» jedhe.

Waadaa Mootiin Waan Maraa Zarubaabeliif Gale

²⁰ Ji'uma san keessatti guyyaa diddamii arfeesso'ootitti, Mootiin Waan Maraa yennaa lammeesso'oo Haage'etti dubbatee,

²¹ «Zarubaabelii bulchaa Yihuda'aatiin, «Ani ol-gubba'aa fi lafa hin tachoosa;

²² barcumaa moototaa garagaggalcha; hunna mootummoota gosa biyya adda addaa hin balleessa; worra garreettaa fardaan harkifamu oofuu fi garreettaa isaanii garagaggalcha; fardoon isaanii hin dhumatti; abbootiin fardo'oolle wol hin ijeetti;

²³ Guyyaa san ani Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, si tajaajilaa kiyya ilma She'atii'elii Zarubaabel filadhee akka chaappaa kiyya ka qube'ee si godhadha» jedha» jedhe.

Kitaaba Zakaariyaasii Raagichaa Seensa

Kitaab Zakaariyaasii raagichaa kutaa lamatti goodameera: 1. Fooraa 1-8 ka jiru dhaloota Kiristoosiitiin dura woggaa dhibba shanii fi diddamaa haga woggaa dhibba shanii fi kudhanii saddeetiititti, yennaa adda addaa keessatti raaga Zakaariyaas raage ka qabateeru. Raagoti kun irra caalaa akka mudhi'iititti ka dhikaatane te'anee, waan haareffamiisa Yerusaaleemii, waan deebifamee ijaaramiisa Galma Waaqaa, waan qulqulloomiisa kolbaa Waaqaatii fi waan bara Masiihii gara duraa dhufu'uu jiruu dubbata. 2. Fooraa 9-14 ka jiru ergaa marroo Masiihii gara duraa dhufu'uu jiruutii fi marroo muraa muumme'ee dubbata.

Haadhoo Dubbi'ii

Ergaa ifi eeggachiisiisaatii fi addi'ii 1:1–8:23

Muraa kolbaa ollaa Israa'elii irratti murantu 9:1-8

Mooticha gara duraa dhufuu fi nageya gara duraa 9:9–14:21

Mootiin Waan Maraa Kolbaan Isaa Gara Isaa Akka Deebitu Waame

¹ Bara Daariyos mootii te'ee woggaa lammeesso'oo, ji'a saddeetessoo'ootitti jechi Mootii Waan Maraa gara Zakaariyaasii raagicha ilma Baraakiyaa akaakoo Iddoo dhufee,

² «Mootiin Waan Maraa, abbootii teessanitti guddoo aareeraayyu.

³ Tanaaf, ati isaaniin, «Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Gara kiyya deebi'a'a!» jedha Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade; Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Anille gara keessan hin deebi'a» jedha» jedhiin.

⁴ Isin akka abbootii teessan ta durii, ta raagoti durii, «Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Karaa keessan hamaa irraa, hujii teessan hantuu irralle'ee deebi'a'a!» jedha» jedhane adoo isaanitti himanuu, na dhage'iisa yookiin naaf ajajamiisa dhabane sanii hin ite'ina'a! Tana ana Mootii Waan Maraatittuu dubbate.

⁵ Abbootiin teessan amma eessa jiran? Raagoti bara baraan hin le'anii ree?

⁶ Dubbii tiyyaa fi qajeelcha* kiyya ka ani karaa tajaajiltoota tiyya raagotaatiin ajaje eegatuu dhabiiisaan ammoo, adabamanee hin jiranuu ree? Tanaaf isaan cubbuu ifii irraa deebi'anee, «Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, akkuma murteessetti akka hujii'ii fi ideensa keenfaatitti nutti mure» jedhane» jedhe.

Mudhii Marroo Fardo'oo

⁷ Daariyos mootii te'ee woggaa lammeesso'oo, ji'a kudha tokkeessoo ka «Shebaax» jedhamutti, guyyaa diddamii arfeesso'ootitti jechi Mootii Waan Maraa gara Zakaariyaasii raagicha ilma Baraakiyaa Iddoo dhufe.

⁸ Ani Zakaariyaas halkan san mudhi'iin nama farda arrowa irraa tee'eeru tokko dhagge; inni mukoota dakkaraa odduu, dhooqa keessa dhaabbateera; duuba isaatile'een fardi arroonni, fardi boorrii fi fardi adiiin jiraniyyuu.

⁹ Anille, «Ee gootaa kiyya, fardoona tun maan?» jedhee gaafadhe.

Inni deebisee, «Isaan maan akka te'ane ani si'itti hin mudhisa» jedhe.

¹⁰ Maarre namichi mukoota dakkaraa odduu dhaabbateeru sun deebisee, «Isaan worra Mootiin Waan Maraa lafa qorqoriisaaf ergeeru» jedhe.

* 1:6 Qajeelcha: Yookiin sirna ittiin bulmaata.

¹¹ Isaanille ergamaa Mootii Waan Maraa ka mukoota dakkaraa odduu dhaabbateeru saniin, «Nuuti lafa duudii qorqorreerra; latti duudiin nageya» jedhane.

¹² Achiin duuba ergamaan Mootii Waan Maraa, «Ee Mootii Waan Maraa Waaqa waan mara Dadde! Ati qachaa Yersaalemiitii fi Yihuda'aa ka woggaa torbaatama itti mufatte kana, ka hin mararre haga yoomiiti ree?» jedhe.

¹³ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa, ergamaa na woliin dubbatiisatti jiru sanitti, dubbii gammachiittuu fi jajjabeessitu deebise.

¹⁴ Tanaaf ergamaan na woliin dubbatiisatti jiru sun anaan, «Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Ani Yersaalemii fi Xiyooniif guddoo hinaafeera;

¹⁵ ani kolbaa tiyyatti diqqoo aareeraayyu; gosi biyya adda addaa worri nageyaan le'a ifi seyu ammoo, ittuma dabalee hantuu waan hujjeef, guddoo itti aareera.

¹⁶ Tanaaf ani mararti'in gara qachaa Yersaalemii hin deebi'a; manni kiyyalde deebi'ee hin ijaarama; wodaroon miki'ii Yersaalem ijaariisaaf hin diriirfama; waan kana ana Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadetti dubbate» jedhii lallabi» jedhe.

¹⁷ Ammalle ergamaan, anaan, «Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Qachooti kiyya waan dansa'aan† deebi'anee hin guutaman; Mootiin Waan Maraa ammalle Xiyoon hin jajjabeessa; Yersaalemille hin fooyata» jedhii lallabi» jedhe.

Mudhii Marroo Gaafotaa

¹⁸ Ani ol ilaalee gaafota afur dhagge.

¹⁹ Ergamaa na woliin dubbate saniin, «Gaafoti kun maan?» jedhee gaafadhe.

Innille deebisee, «Gaafoti kun kolbaan Yihuda'aa, kolbaan Israa'eliitii fi Yersaalemii akka bittinnowanu ka godhe» anaan jedhe.

²⁰ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa namoota sibiila tumanu afur natti mudhise.

²¹ Anille, «Isaan maan godhiisaaf dhufane?» jedhee gaafadhe.

Innille deebisee, «Isaan, kolbaa biyya adda addaa ta lafa Yihuda'aa ijjumaa balleessitee, kolbaa isi'iille bittinneessitee, bararassiisaa fi jissiiisaaf dhufane» jedhe.

2

Mudhii Marroo Wodaroo Miki'ii

¹ Ani ol ilaalee, nama wodaroo miki'ii harkatti qabateeru tokko dhagge.

² Anille, «Eessa dhaqaarta?» jedhee isa gaafadhe.

Inni deebisee, «Yersaalem hagam akka badhattuu fi hagam akka dheerattu mikee ilaaliisa dhaqaara» naan jedhe.

³ Achiin duuba ergamaa na woliin dubbate sun gara duraa deemuun, ergamaan dhibiin isa wolde'iisaaf dhufee,

⁴ «Rukkisiitii dargaggeessa saniin, «Yersaalem keessa kolbaa heddu'uu fi horiin hedduun waan jiranuuf qachaa dalleenni dhaka'aa itti hin ijaaranne teeti.

⁵ Ani adaala Yersaalemiititti dalleya dhaka'aa ka ibiddaa hin te'a; isii keessattille ulfinnaa hin te'aaf» jedha Mootiin Waan Maraa» jedhiin.

Worri Booji'ame Biyyatti Akka Deebi'u Waamame

† 1:17 Waan dansa'aan: Yookiin durumma'aa.

⁶ Mootiin Waan Maraa, «Ani maddii afurittuu waan isin bittinneesseeruuf, lafa kaabaatii baqadha'a! Baqadha'a!

⁷ Isin worri booji'antane Baabilon keessa leetanu gara Yerusaalemii deebi'a'a!

⁸ Nami isin tuqu gumaa ila tiyyaa* tuqa» jedha; kana Mootii Waan Maraatittuu dubbate.

Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, ulfinna naaf kennee, gosa biyya adda addaa ta isin saantetti na ergee,

⁹ «Kunoo, ani harka kiyya isaan irratti ol hin fudhadha; garbooti isaanille isaan hin saaman» jedha.

Achiin duuba isinille Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade akka na erge hin beettan.

¹⁰ Mootiin Waan Maraa, «Isin kolbaa Xiyoonii†, kunoo ani dhufee odduu teessan waan le'uuf, ilillisa'aa gammada'a» jedha.

¹¹ Guyyaa san gosi biyya adda addaa hedduun gara Mootii Waan Maraa dhufanee, gosa isaa hin te'an. Innille odduu isaanii hin le'a; akka Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade gara keessan na erge hin beettan.

¹² Mootiin Waan Maraa lafa woyyittii keessaa Yihudaa lafa ifii hin godhata; ammalle Yerusaalem hin filata.

¹³ Mootiin Waan Maraa addee woyyittii ifiitii waan dhufaaruuf, kolbaan duudiin isa duratti cadhisa'a.

3

Mudhii Zakaariyaas Marroo Hayyicha Gudda'aa Dhagge

¹ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Hayyichi Guddaan Iyaasuun ergamaa Mootii Waan Maraa dura dhaabbateeruun, Seexannille Iyaasuu himatiisaaf midda isaatitti dhaabbateeruun natti mudhise.

² Ergamaan Mootii Waan Maraa Seexanaan, «Seexana, Mootiin Waan Maraa si xixu! Mootiin Waan Maraa ka Yerusaalem filate si xixu! Namichi kun akka muka ibidda irraa butameetii motii ree?» jedhe.

³ Yennaa san Iyaasuun woyaa xurootte uffatee, ergamaa Mootii Waan Maraa dura dhaabbateera.

⁴ Ergamaan sun worra isa dura dhaabbateeru saniin, «Woyaa isaa xuroottuu san irraa baasa'a!» jedhe; Iyaasuulle'een, «kunoo, ani cubbuu teeti si irraa balleesseera; woyaa ulfinnaalle sitti hin uffisa» jedhe.

⁵ Achiin duuba ani, «Marata mata'aa qulqulluu mataa isaatitti mara'a!» jedhe; isaanille adoo ergamaan Mootii Waan Maraa achi dhaabbateeruu, marata qulqulluu itti maranee, woyaalle itti uffisane.

⁶ Eega san ergamaan Mootii Waan Maraa Iyaasuu ifi eeggachiisee,

⁷ «Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Deensi keeti akka fedha kiyya yoo te'e, waan ani si ajaje yoo eeggatte, Galma kiyyaaf bulchaa, badhinna dalleya kiyya keessaa mara irratti itti gaafatamaa hin teeta. Ergantoota Mootii Waan Maraa ta as dhaabbataneeranu oddu'utti mirga si'iif hin kenna.

⁸ Iyaasuu hayyicha gudda'a, dhage'i! Isin worri hayyumma'aan isa woliin tajaajiltanuu fi waan dansaa gara duraa te'uu jiruuf, beessisa teetane dhage'a'a: ani kunoo, dameen Daawitii garbichi kiyya akka dhufu hin godha.

⁹ Kunoo, ani dhakaa iloo torba qabu tokko Iyaasuu dura hin keya; ani dhakaa san irratti barreeffama, «Ani guyyaa tokkotti yakkaa lafa tanaa irraa hin balleessa» jedhu hin barreessa.

* **2:8** Gumaa ila tiyyaa: *Afaan Ibrootaatiin*, «Mucaa ila tiyyaa» jedha; mucaa ilaa jechuun, ila gurraattii keessaa ti. † **2:10** Xiyoon: Qachaa Yerusaalemii ti.

¹⁰ Guyyaa san nami tokko tokkoonuu, muka woyni'iitii fi haru'uu jalatti ollaa ifii hin affeera» jedha» jedhe.

4

Mudhii Waan Ifi Irra Keyamu

¹ Ergamaan na woliin dubbataa ture sun deebi'ee dhufee, akka nama hirriibaa nama dammassuu na dammassee,

² «Maan dhaggiisatti jirta?» jedhee na gaafate.

Ani deebisee, «Waan issaan irra keyamu ka worqii qofaan hujame, ka qoriin mataa isaa irra jirtu dhagga; issaan sun tokko tokkoon isaatuu uujjumme torba mataa irraa qaba.

³ Waan issaan irra keyamu bira, muki ejersaa lama middaa fi bitaa qori'iititti jira» jedhe.

⁴ Anille ergamaa Waaqaa ka na woliin dubbatiisatti jiru saniin, «Ee gootaa kiyya, wonni kun maan inni?» jedhee gaafadhe.

⁵ Innille, «Ati wonni kun maan akka te'e hin beettu?» jedhee na gaafate. Anille, «Ani hin beeku, gootaa kiyya» jedheen.

⁶ Jechi Mootii Waan Maraa ka ergamaan Waaqaa akka ani Zarubaabelitti himuuf natti hime kana: «Ayyaana kiyyaan malee hunnaa fi jabeennaanii moti.

⁷ «Ee, gaara gudda'a! Ati maan! Ati Zarubaabel duratti lafa dirree hin teeta; yennaa inni dhakaa ittiin ijaaranee muummessanu lafaa ol fuudhu, namooti «Attam dansa'a! Attam dansa'a!» jedhaa gammadaan hin iyyan» ka jedhu.

⁸ Ammalle jechi Waaqaa gara kiyya dhufee,

⁹ «Zarubaabel hundee Galma kanaa harka ifitiin keyeera; harka ifitiin ijaarsa kana hin fixa. Yennaa tun teetu Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade akka gara keessan na erge hin beettan.

¹⁰ «Worri waan diqqoo dhaggane tuffatane, dhakaa tumbi'ii harka Zerubaa-beliititti yennaa dhagganu hin gammadan; issaan torba kun ila Mootii Waan Maraa torba ta lafa duudii dhaggitu» jedhe.

¹¹ Achiin duuba ani, «Muki ejersaa lamaan ka waan issaan irra keyamu middaa fi bitaa jiru kun maan» jedhee ergamaa Waaqaa gaafadhe.

¹² Ammalle ani, «Dameen muka ejersaa lamaan, ka uujjumme worqi'ii lamaan cina'aa zayitii ejersaa yaasanu maan?» jedhee gaafadhe.

¹³ Inni anaan, «Ati wonni kun maan akka te'e hin beettu?» jedhe.

Anille, «Ee gootaa kiyya, hin beeku» jedheen.

¹⁴ Achiin duuba inni, «Isaan lamaan kun Mootii Waan Maraa lafa maratti akka tajaajilanuuf worra mudame» jedhe.

5

Mudhii Kitaaba Maramaa Gubbaa Irra Ka'uu

¹ Ani ammalle yennaa ilaalee, kitaaba maramaa tokko gubbaa irra ka'uun* dhagge;

² ergamaan Waaqaa, «Ati maan dhaggiisatti jirta?» jedhee na gaafate; anille deebisee, «Kitaaba maramaa dheerinni isaa ciqilee diddama, badhinni isaa ciqilee kudhan te'e tokko gubbaa irra ka'uun dhagga» jedheen.

³ Innille, «Kun abaarsa lafa duudii irratti dhufu. Kitaaba maramaa san gama tokko irratti, «Nami hatu duudiin lafa irraa hin bada» ka jedhutti jira; gama kaan irralle'etti «Nami dharaan kakatu duudiinille hin bada» ka jedhutti jira.

* 5:1 Ka'uun: Yookiin balali'uu.

⁴ Mootiin Waan Mara Ka Waan Mara Dade, «Ani abaarsa gara mana nama hatuutii fi gara mana nama dharaan kakatuu seenu hin erga; inni mana isaanii keessa turee, mana isaanii mukaa fi dhakaa isaalle hin balleessa» jedha» jedhe.

Mudhii Dubartii Saaxaraa Keessaa

⁵ Achiin duuba ergamaan Waaqaa gara kiyya dhufee, «Ol ilaal! Wonni dhufaaru kun maan inni?» anaan jedhe.

⁶ Anille, «Wonni kun maan?» jedhee gaafadhe.

Inni deebisee, «Kun kollonjoo cubbuu lafa duudii irratti hujantu mudhisu» jedhe.

⁷ Qadaadi saaxara'aa ka irsaasa irraa hujame sun yennaa baname, dubartittiin takka saaxaraa san keessa teetteertuun dhagge.

⁸ Ergamaan Waaqaalle, «Dubartittiin tun hammeenna mudhitti» jedhee, isii saaxaraa san keessa gad dhiibee, qadaaddaa saaxara'aa itti qadaade.

⁹ Achiin duuba ol ilaalee, dubartooti lama koolaan ka'aa gara kiyya dhutuun dhagge; koolli isaanii akka koola qonga'aa jira; isaan saaxaraa san fuudhanee lafa irraa ka'anee, gubbaa irra koolaan ka'ane.

¹⁰ Anille ergamaa Waaqaa ka na woliin dubbatiisatti jiruun, «Saaxaraa eessa geessaaran?» jedhee gaafadhe.

¹¹ Inni deebisee, «Mana saaxaraa saniif ijaariisaaf gara Baabilonii† geessaaran; mana ijaaranee fixaneen duuba saaxaraa san achi keyan» anaan jedhe.

6

Mudhii Garreettaa Fardaa Afur

¹ Ani ammalle ol ilaalee, garreettaan fardaan harkifamu afur gaarota sageettu'uu lamaan wodhakka'aa bayanee dhufanuun dhagge.

² Garreettaan fardaa ka qaraa fardoo arrowaan, garreettaan lammeesso'oo fardoo daama'aan*,

³ ka sadeesso'oo fardoo bororaan†, ka arfeesso'oo fardoo buburre'een harkifamaniyyu; marti isaaniituu jajjaba.

⁴ Achiin duuba ani ergamaa Waaqaa ka na woliin dubbatiisatti jiruun, «Ee gootaa kiyya, garreettaan fardaa kun maan?» jedhee gaafadhe.

⁵ Inni deebisee, «Isaan kun qilleensa ol-gubba'aa ka maddii afurii ti; isaan worra Gootaa lafa duudi'ii tajaajiliisa irraa dhufane» anaan jedhe.

⁶ Garreettaan fardoo gugurraayye'een harkifamu gara kaabaa, ka fardoo adaadi'ii harkifamu gara seensa adu'uu, ka fardoo buburre'een harkifamu gara kibbaa deemaaraniyyu.

⁷ Fardoon jajjabi yennaa baate, lafa qorqoriisaaf worraaqatteertiyyu. Ergamaan Waaqaa isaaniin, «Lafa duudii keessa deddeema'a» jedhe. Isaanille lafa duudii keessa deddeemane.

⁸ Achiin duuba ergamaan Waaqaa na waamee, «Fardoon gara kaaba Baabilonii dhaxxe, mufiin Waaqaa akka qabbanoottu goote» jedhe.

Kallachi Iyaasu'utti keyame

⁹ Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

¹⁰ «Heldaayi, Xobiiya'aa fi Yedaa'iyaa worra biyya Baabiloniititti booji'amanee deebi'ane irraa meeti'ii fi worqii fuudhiitii, gaafasuma gara mana Yosiyaasii ilma Sefaaniya'aa dhaqi!

† 5:11 Baabilon: Maqaan Baabilonii ka durii Shiinaar. * 6:2 Fardoo daamaa: Yookiin gugurraalee jechu'u. † 6:3 Fardoo borora: Yookiin fardoo adii jechu'u.

¹¹ Meeti'ii fi worqii fuute san kallacha hujitii, mataa Iyaasuu hayyicha guddaa ilma Yozaadaaqii irra keyi.

¹² Achiin duuba Iyaasu'uun, Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Namichi damee jedhamu tokko asi jira; inni addee ifii jirutti damee baafatee waan banqaquuf, Galma Mootii Waan Maraa hin ijaara.

¹³ Ka Galma Mootii Waan Maraa ijaaru isa. Ulfinna mooti'ii qabaatee, barcumaa mootumma'aa irra tee'ee hin bulcha. Hayyichi tokko barcumaa mootummaa isaa bira dhaabbata; isaan lamaanuu woliigalaa fi nageyaan hujan» jedha;

¹⁴ kallachi isaalle Heelemiif, Xobiiya'aaf, Yedaa'iya'aaf, Heenii ilma Sefaaniyaatiif Galma Mootii Waan Maraa keessatti yaadannoo hin te'a.

¹⁵ «Worri biyya fagoo le'anuu, Galmi Waaqaa deebifamee yennaa ijaaramu qarqaariisaaf hin dhufan. Galmi Waaqaa yennaa deebifamee ijaarame, Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade gara keessan akka na erge hin beettan. Yoo isin guutumatti Mootii Waan Maraa Waaqa keessaniif ajajantane tun marti hin teeti» naan jedhe.

7

Fudhatama Dhaba Laama Kijibaa

¹ Daariyos mootii te'ee, woggaa arfeesso'ootitti, ji'a sagaleesso'oo ka «Kisluu» jedhamu, guyyaa arfeesso'ootitti, jechi Mootii Waan Maraa gara Zakaariyaasii dhufe;

² Kolbaan Bet'elii, worra Shaarezetiitii fi Regiimelekinii namoota isaanii waliin gara Galma Mootii Waan Maraa dhaqanee eebba Mootii Waan Maraa akka kadhatanuu fi

³ «Akkuma woggaa heddu'uuf godhaa turre, ji'a shaneesso'ootitti, diigama Galma Waaqaatiif laamaa, bowuulle qannaa ree?» jedhane hayyoota Galma Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadeetii fi raagota isaa, akka gaafatanuuf ergane.

⁴ Ammalle jechi Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadee gara kiyya dhufee,

⁵ «Kolbaa lafaa duudi'iitii fi hayyoota duudii, «Woggoota torbaatama dabarane keessa, ji'a shaneesso'ootii fi torbeesso'ootitti yennaa laamtanee, boottanelle dhuguma naaf laamtanee?

⁶ Yennaa nyaattanuu fi untanu, ifumaafuu nyaataa unaa turtanee motii ree?

⁷ ««Yerusaalemii fi qachooti ollaa isi'ii duroomanee, yennaa namooti itti heddatane, namoota adaala ollaa qacha'aa le'anuu gofa adoo hin te'in, ka kutaa kibbaatii fi kooba gara seensa adu'uu jalaatiiifille, jechi Mootii Waan Maraa karaa raagota duriitiin dubbate kanumaa motii ree?» jedhiif gaafadhu» naan jedhe.

⁸ Jechi Mootii Waan Maraa ammalle gara kiyya gara Zakaariyaasii dhufee,

⁹ «Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Muraa dhuga'aa mura'a; woli woliif arjooma'a; wolille'eef marara'a.

¹⁰ Haadhotii hiyyeessaa, ijoollee haadhaa fi abbaa hin qanne, orma, yookiin hiyyeeyyii hin miicina'a. Gadhaa keessan keessatti hantuu woliif hin yaadatana'a» jedha» jedhe.

¹¹ Isaan ammoo dhage'uu didanee, mataa jabaatane; akka hin dhageenneefille gurra ifii cuqqaalatane.

¹² Isaan seeraa fi jecha Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dade ayyaana ifitiin karaa raagota duriitiin erge akka hin dhageenneef gadhaa ifii akka

cabbi'ii jabeessane. Tanaaf mufiin guddoon Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadee isaan irratti dhutte.

¹³ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Yennaa ani isaan waame isaan na dhage'uu waan didaneef, anille yennaa isaan na waammatane isaaniif hin dhageenne» jedha.

¹⁴ Kolbaa biyyaa adda addaa ta hin beenne keessa akka le'anuu, akka bubbe'ee isaan bittinneesse. Latti dansaan isaan keessaa bayane sun ona teete; nami tokkolle achi keessa hin le'u; ittille hin galu. Akka kanaan latti sun onte.

8

Mootiin Waan Maraa Xiyoona Akka Duriititti Deebisiisaaf Waadaa Gale

¹ Jechi Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadee gara kiyya dhufee,

² «Ani Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade kolbaa Xiyooniitiif guddoo waan hinaafeef, diina isi'ititti guddoo aareera.

³ Ani gara Yersaaleemii deebi'ee, gaara Xiyoonii irra hin le'a. Yersaaleem, «Qachaa addatamaa» jedhantee hin waammanti; gaarri Xiyooniille gaara kiyya woyyicha jedhamee hin beekkama.

⁴ «Namooti woggaa hedduu le'anee waan dulloomanuuf, jaarsaa fi jaartiin borjoo* qabatanee, karaa Yersaaleemii keessa ammalle hin tetee'an.

⁵ Karaan qacha'aalle ijoollee dhiiraatii fi durraa ta keessa taphattuun hin guutama.

⁶ «Guyyoota kanatti worra hafeef wonni kun ta hin dande'anne yoo fakkaatelle, wonni naaf hin dande'anne jirtii ree?

⁷ Ani kolbaa tiyya harka worra karaa biyya aduun baatuutii fi aduun seentuu jiranu jalaa baasee,

⁸ Yersaaleem keessa akka le'anuu deebisee isaan hin fida; isaan kolbaa tiyya hin te'an; anille addatamumma'aa fi balchumma'aan Waaqa isaanii hin te'a.

⁹ «Isin worri yennaa Galmi Waaqaa deebi'ee ijaaramiisaaf hundeen keyamu, waan raagoti achi jirtu dubbatte dhage'iisatti jirtanu, Galma Waaqaa ijaariisaaf jabaadha'a.

¹⁰ Yennaa saniin dura namaaf, horiille'eef gatiin dadhabbi'ii hin kaffalan-tuuyyu. Nami duudiin ollaa ifii irratti diinumma'aan akka ka'u ka'u waan godheef, eennulle bayiisaa fi galiisaaf nageya hin qabuuyyu.

¹¹ Amma ammoo worra hafe akka durii hin godhu.

¹² Isaan nageyaan sanyii facaafatan; woyniin midhaan ifii hin buuchi; latti midhaan hin kenniti; gubbaan rooba kenna; ani waan kana mara worra hafe kanaaf hin kenna.

¹³ Isin worri Yihuda'aatii fi worri Israa'elii, dur kolbaa biyya adda addaa oddu'utti akka abaarsaatitti laakkowamaa turtane; ammaa ammoo ani abaarsa kana jalaa isin hin fayyisa, eebballe hin teetan; tanaaf jabaadha'a malee, hin sodaatina'a!

¹⁴ «Yennaa abbootiin teessan ta durii na aarsite, marartii malee isin adabiisaaf murteeffadhe.

¹⁵ Amma ammoo kolbaa Yersaaleemiitii fi Yihuda'aa eebbisiisaaf murteeffadheera; hin sodaatina'a.

¹⁶ Wonni isin godhuu qaddanu kana: dhugaa wolitti dubbadha'a. Addee kora mura'aa keessaniititti mura'a dhugittii ta nageya fiddu mura'a.

¹⁷ Wol miidhiisaaf hin yaadatina'a. Dharaan hin kakatina'a. Ani kana duudii hin jibba» jedha Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade.

* **8:4 Borjoo:** Yookiin ulee jaarsaa fi jaarti'ii ti.

¹⁸ Ammalle jechi Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadee gara kiyya dhufee,

¹⁹ «Laam ji'a arfeesso'oo, ji'a shaneesso'oo, ji'a torbeesso'ootii fi ji'a kudhaneesso'oo worra Yihuda'aatiif jila gammadaatii fi ililleetti'ii hin te'a. Isin ammoo dhuga'aa fi nageya jaaladha'a.

²⁰ «Yennaan kolbaan hedduun qachaa hedduu keessaa gara Yersaaleemii dhuttu hin dhutti.

²¹ Worri qachaa tokko keessa le'u, gara worra qachaa dhibii keessa le'uu dhagee, «Kowa'a! Ariifannee dhandhee Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara dande'u waaqonfannee, eebba isaa kadhanna, nuutille achi dhaqaarra» hin jedhan.

²² Kolbaa heddu'uu fi gosi biyya adda addaa jajjabi Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dade waaqonfatiisaa fi eebba isaa kadhatiisaaf gara Yersaaleemii hin dhufan.

²³ Yennaa san gosa biyya adda addaa ka afaan gara garaa dubbatanu keessaa, namooti kudhan handaara woyaa Yihudicha tokkoo qabatanee, «Waaqi isin waliin akka jiru waan dhageenneef isin waliin hin deenna» hin jedhan» jedha.

9

Muraa Diinota Israa'elii Irratti Dhuttu

¹ Dubbiin mura'aa ta Mootii Waan Maraa marroo biyya Hadraakiitiif dubbate qachaa Damaasqo'oolle geette.

Ilti namootaatiif fi gosa Israa'elii duudiin gara Mootii Waan Maraa hin ilaalti.

² Haamaati ta meessaa isaanii jirtu, Xiirrosii fi Sidoon guddoo qaroolee te'anulle gara isaa hin ilaalan.

³ Xiirros kushee ijaarratteerti; meetii akka biyye'ee, worqii akka dhoqqee karaa keessaa tuulatteerti.

⁴ Mootiin Waan Maraa ammoo waan isiin qaddu mara irraa hin mulqa; karra isi'ii mara gara abbaaya'aa hin gata; isiille ibiddaan gubatee hin baddi.

⁵ Worri Ashiqalonii tana dhaggee hin sodaata; worri Gaaza'aalle hin hollata. Worri Egroonille addii hin kutata; worra Gaaza'aa keessaa mootiin hin dhabama; Qachaan Ashiqalonii hin ona.

⁶ Kolbaan makante qachaa Ashidoodii keessa hin leeti. Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara dande'u, «Ani koora Filisxeemotaa hin balleessa.

⁷ Isaan haganaa achi foon dhiiga qabu yookiin sagalee dhooggante hin nyaatanu. Worri hafe Waaqa keennaaf hin te'a, biyya Yihuda'aa keessatti sooreyyii hin te'an. Worri Egroonille akkuma worra Yibusootaa hin te'a.

⁸ Ani mana kiyya, saantota irraa hin eegadha.

Ani ila tiyyaan isaan waan eeguuf,
nami isaan miicu,
haganaa achi deebi'ee isaan keessa hin bayu» jedha.

Mootii Xiyoonii Ka Dhufu

⁹ Kolbaa Xiyoonii, guddoo gammada'a!
Kolbaa Yerusaalemii, ilillisa'a!
Kunoo, mootichi keessan balchaan,
injifataan, gad ifi qabee,
ilmayyoo harre'ee irraa tee'ee,
gara keessan hin dhufa.

¹⁰ Mootiin Waan Maraa,
«Ani Garreettaa fardaa Efreem keessaa,
fardoo lolaa Yerusaalem keessaa hin balleessa.
Guubeen lolaalle hin baddi;
Mootichi keeti gosa biyya adda addaatiif,
nageya hin lassa.
Bulchiisi isaa abbaayaa irraa,
haga abbaaya'aa,
laga Efraaxiisii irraa
haga dhuma lafaa ti.

Adde'etti Deebi'iisa Kolbaa Waaqaa

¹¹ «Isiniif sababa gondoorroo tiyya,
ta dhiigaan isin waliin gondooreetiif jedhee,
worra hidhamane keeti,
boolla bisaan hin qanne keessaa,
bilisa hin baasa.
¹² Isin worri hidhantanee, addi'in jirtanu,
gara addee nageyaa teessanitti deebi'a'a;
ani adha addee duriititti
dachaa lama isiniif hin deebisa.
¹³ Ani Yihudaa akka guube'eetitti,
Efreem akka daayaatitti,
namoota Giriiki'ii loliisaaf,
ilmaan Xiyoonii
akka shallaaga'aatitti hin fayyadama» jedha.

¹⁴ Mootiin Waan Maraa
kolbaa ifitiin gubba'atti hin mudhata;
daayi isaa akka balaqqeetti'ii hin utaala.

Mootiin Waan Maraa Waaqi
qoonqoo tultulla'aa hin dhageessisa;
bubbee gara kibbaa keessa,
itti hin ideema.

¹⁵ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade,
kolbaa ifii irraa hin dhoogga;
isaanille dhakaa looyya'aatiin* diina ifii hin balleessan;
akka nama daadhii woyni'ii unee machowee hin iyyan;
akka qorii dhiiga ittiin fiffixanu ta roga addee ciinca'aa
hin guutaman.

¹⁶ Gaafas Mootiin Waan Maraa Waaqi isaanii

* **9:15** Looyya'aatiin: Lafa tokko tokkotti yanbarsaatiin jedhama.

akka tisseen horii ifi waan hantuu irraa fayyisu
kolbaa ifi hin fayyisa.
Isaan akka dhakaa gatii guddo'oo
ka kallacha irraa
lafa isaa keessatti hin calalaqan.
¹⁷ Latti attam attam Shagga'aa fi dansa'a!
Midhaanii fi daadhiin woyni'ii ta isii irraa dhaggantu,
Dargaggeeyyii dhiiraatii fi durraa
hin bisileessiti.

10

Adde'etti Deebi'iisa Kolbaa Yihuda'aatii fi Israa'elii

- ¹ Rooba furmaataa akka isinii kennuuf,
Mootii Waan Maraa gaafadha'a;
ka duumensa roobaa ergee,
tiifuu roobaa isinii kennee,
fichaa magariisa godhu Mootii Waan Maraa ti.
- ² Waqoti dharaa
waan gatii hin qanne dubbatan;
worri moru mudhii dharaa dhaggan;
oojjuu sobaalle himan.
Isaan akkasumaan
nama jajjabeessan;
tanaaf kolbaan tissee dhaddee rakkattee,
akka hoole'ee joonjiti.
- ³ Mootiin Waan Maraa, «Ani tissitootatti guddoo aareera;
sooressitootalle hin adaba.
Ani Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade
hoolota tiyya kolbaa Yihuda'aa hin kunuunsa.
Akka farda kiyya ka lolaa ka ittiin kooruu
isaan hin godha.
- ⁴ Kolbaa Yihuda'aa keessaa
bulchitooti
ta akka dhakaa roga ijaarsaa
ta akka togaa dunkaanaatii fi
guubee lolaa jiranu hin ka'an.
- ⁵ Isaan wolumatti te'anee
akka loltoota jajjabaa
diinota ifi dhoqqee karaa keessaa irratti
dhidhiitanee injifatanuu hin te'an.
Mootiin Waan Maraa isaan waliin waan jiruuf
isaan lola keessatti
abbootii fardaa diinota hin qaanessan.
- ⁶ «Ani kolbaa Yihuda'aa hin jabeessa;
kolbaa Israa'eliille hin fayyisa.
Ani isaaniif waan nawuuf,
akka duriititti isaan hin deebisa.
Isaan akka ani tanaan gara
ijjuma isaan lakkisee hin beennee hin te'an.
Ani Mootii Waan Maraa Waaqa isaanii waan te'eef,
daadimata isaanii hin dhage'a.
- ⁷ Kolbaan Efreemii akka worra jajjabaa hin te'an.

- Isaan akka nama daadhii woyni'ii unee hin gammadan.
 Ijoolleen isaanii tana dhaggitee hin gammaddi;
 gadhaan isaaniille Mootii Waan Maraattitti hin gammada.
- ⁸ Ani kolbaa tiyya beessisaan waamee
 wolitti isaan hin qaba.
 Ani isaan waan woduuf
 akkuma durii laakkossa isaanii hin fakkansa.
- ⁹ Ani gosa biyya adda addaa oddu'utti
 isaan bittinneessulle
 biyya fagoo san jiraatanee na hin qaabatan.
 Isaanii fi ijoolleen isaanii jiraatanee,
 gara biyya ifii hin deebi'an.
- ¹⁰ Ani biyya Gibxi'iitii
 deebisee isaan hin fida.
 Biyya Asoorii keessaalle'ee
 haga latti isaan dhiphattutti
 wolitti isaan qabadha.
 Gara biyya Giil'aadiitii fi Libaanonii
 deenisee isaan hin galcha.
- ¹¹ Yennaa isaan abbaayaa rakko'oo keessa dabaranu,
 ani danbalii hin dhowa.
 Qilee ka te'e lagi Nayilii hin goga.
 Asoor hin salphatti;
 Gibxille ulee bokku'uu
 ta mootumma'aa hin dhaddi.
- ¹² Ani kolbaa tiyya hin jajjabeessa.
 Isaaniille jecha kiyyaaf hin ajajaman» jedha.

11

Jinnana Worra Hin ajajanne

- ¹ Ee, Libaanon!
 Ibiddi muka hindheensaa keeti
 akka fixuuf
 balbala teeti bani!
- ² Muki hindheensaa waan jigeef,
 isin muki birbirsaa bowa'aatii wiiccifadha'a!
 Muki jajjabaan marti badeera!
 Gongomaan ciggaan waan cirameef,
 ee, qilxaa Baashaanii, bowiitii wiiccifadhu!
- ³ Addeen horii tiffatanu
 waan isaan duraa baddeef,
 bowa worwaanata tissitootaa dhage'a'a!
 Gongomaan laga Yordaanosii
 waan badeef
 dhangaa dhowiisa neenqaa dhage'a'a!

Tissitoota Lama

- ⁴ Mootiin Waan Maraa Waaqi kiyya anaan, «Hoolee qalmaaf qopheeffan-
 teertu tiffadhu»*.
- ⁵ Worri isaan bitatu yennaa isaan qaltanu hin adabamanu; worri isaan
 gurguratelle, «Mootiin Waan Maraa leellifamuu ti! Nuuti duroonneera!»
 jedhan; tissitooti isaaniituu isaaniif hin nayanu;

* **11:4** Tiffadhu: Yookiin bobbaafadh.

⁶ ani haganaa achi worra lafa irra le'u tokkolle'eef hin nayu[†]; kunoo, ani tokko tokkoo isaaniituu harka olla'aa fi mootii isaaniititti dabarsee hin kenna. Isaan biyya san hin balleessan; anille harka isaanii keessaa isaan hin baasu» jedha.

⁷ Ani hoolee qalmaaf qopheeffante san, keessattuu worra miicamane saniif tissee te'e; ulee lamaan fuudhe; maqaa takkatti'ii, «Jaalatantuu», ta lammeesso'ootiin, «Tokkummaa» jedhee moggaase; hoolota sanille bobbaase.

⁸ Ji'a tokko keessatti tissitoota sad ari'e; hooloti na jibbite; anille isaan hifadhe.

⁹ Tanaaf ani holotaan, «Ani haganaa achii tissee keessan hin te'u. Ka du'anuu du'anuu ti. Ka badanu badanuu ti. Ka hafanelle foon woli wolii nyaatanuu ti» jedhe.

¹⁰ Achiin duuba gondoorroo Mootiin Waan Maraa gosa biyya adda addaa woliin gondoore diigiisaaf, ani ulee tiyya ta, «Jaalatantuu» jedhantu fuudhee casse.

¹¹ Gaafasuma gondoeroon diigante. Daldaltooti hoole'ee, ka na dhaggiisatti jiranu, kun jecha Mootii Waan Maraa akka te'e beekane.

¹² Ani isaaniin, «Yoo feetane mindaa kiyya naa kenna'a; yoo hin fedhin ammoo lakkisa'a» jedhe. Isaanille mindaa kiyya meetii soddoma naaf kennane.

¹³ Mootiin Waan Maraa anaan, «Meetii san saanduqa Galma Waaqaa keessa buusi[‡]!» jedhe. Tanaaf, «Mindaa geya'a» jedhanee ka isaan naaf kennane, meetii soddoma san fuudhee, saanduqa Galma Waaqaa keessa buuse.

¹⁴ Achiin duuba tokkummaa Yihuda'aatii fi Israa'elii diigiisaaf, ulee tiyya lammeesso'oo ta, «Tokkummaa» jedhantu casse.

¹⁵ Itti aansee Mootiin Waan Maraa anaan, «Meya tissitoota gowwoolee sanii fuudhi.

¹⁶ Kunoo, ani tissee hoolee baddeef hin yaadanne, ilmoolee badde ka hin barbaanne, ka miidhamane ka hin fayyine, yookiin fayyaaleyyii ka hin tissine biyya irratti hin kaasa; inni ka coomane hin nyaata; qeenca isaaniille hin buqqisa.

¹⁷ «Tissee gatii hin qanne,
ka hoolota hin eenneef aanne'e!
Shallaagaan, harka isaa middicha isa irraa kutuu ti!
Ila isaa middittiille keessaa baasuu ti!
Harki isaa ijjumaa goguu ti!
Itti isaa middittiin ijjumaa badduu ti!» jedhe.

12

Injifachaa Yerusaalemii

¹ Dubbiin Mootiin Waan Maraa marroo Israa'eliitiif dubbate tana: Mootiin Waan Maraa ol-gubbaa diriirse, ka hundee lafaa hundeessee fi jiruu namaaf kenne,

² «Ani kunoo, Yerusaalem akka muduunuu daadhii woyni'ii hin godha; gosi biyya adda addaa ta adaala isi'ii, untee akka namoota machowanee hin gatantarti*. Yennaa qachaan Yerusaalem marfamu qachaan Yihudaalle hin marfama.

³ Yennaa gosi biyya adda addaa Yerusaalem loliisaaf wolitti qabantu, ani akka dhakaa ulfaata'aa isii hin godha; worri isii ol kaasiisaaf wodhaanu duudiin ifi miidhan.

[†] 11:6 Hin nayu: Yookiin hin anjiradhu [‡] 11:13 Galma Waaqaa keessa buusi: Afaan Ibrootaatiin, «Okkotee nama faara dhowuu keessa buusi» jedha. * 12:2 Gatantarti: Yookiin tintint.

⁴ Guyyaa san ani fardoo isaanii mara hin bararassa; abbootii fardo'oo hin maraacha; kolbaa Yihuda'aa hin eega; fardoo diina isaanii ammoo hin jaamsa.

⁵ Achiin duuba sooreyyiin Yihuda'aa gadhaa ifii keessatti, «Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, kolbaa ifii ta Yersaalem keessa leetuuf hunnaa hin kenna» jedhan.

⁶ «Guyyaa san sooreyyii Yihuda'aa akka okkotee ibiddaa ta qoraan irratti tuulameetii fi akka umeessaa ibiddaa ka odduu ladde'eetitti bobee'uu isaan hin godha. Isaan kolbaa adaala sanii mara hin fixan. Kolbaan Yersaalemii ammoo, nageyaan Yersaalem keessatti hin hafan.

⁷ «Ulfinni sanyii Daawitiitii fi ulfinni namoota Yersaalem keessa le'anuu ka Yihuda'aa akka hin caalle, ani Mootiin Waan Maraa dursee mana gosa Yihuda'aatiif injifachaa hin kenna.

⁸ Ani guyyaa san Mootiin Waan Maraa, worra Yersaalem keessa le'u hin eega; isaan keessaa ka irra caalaa dadhaba'aatuu, akka Daawitii jabaa hin te'a. Sanyiin Daawitii akka ergamaa kiyyaa, akkuma kiyya isaan hin soressan.

⁹ Guyyaa san gosa biyya adda addaa Yersaalem loliisaaf wodhaantu mara balleessiisaaf hin barbaada.

¹⁰ «Ani ayyaana mararti'iitii fi ayyaana daadimataa sanyii Daawitiitii fi worra Yersaalem keessa le'u irratti hin dhangalaasa. Isaan ka woraanane san na hin ilaalan; akka nama mucaa tokkochaaf bowuutitti hin bowan; akka nama du'a ilma angafichaatiif guddoo gadduulle hin gaddan.

¹¹ Guyyaa san bootti guddoon, sanyii Hadaad Rimooniitiif dirree Megidoo keessatti teete sun, Yersaalem keessatti hin teeti.

¹² Namooti lafa sanii akka maatii maatii ifititti hin bowan; maatiin sanyii Daawitii qofuu, niitoti isaanii qofuu, maatiin sanyii Naataanii qofuu, niitoti isaanii qofuu,

¹³ maatiin sanyii Lewwi'ii qofuu, niitoti isaanii qofuu, maatiin Sheme'ii qofuu, niitoti isaanii qofuu,

¹⁴ maatiin worra hafee duudiin qofuu, niitoti isaaniille qofuu hin bowan» jedhe.

13

¹ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Guyyaa san maddi cubbu'uu fi battummaa isaanii qulqulleessu, sanyii Daawitiitii fi worra Yersaalem keessa le'anuu hin banama*.

² Guyyaa san maqaa waaqota dharaa lafa irraa hin balleessa; nami deebi'ee isaan qaabatu hin jiraatu; raagota dharaatii fi ayyaana battiille lafa irraa hin balleessa.

³ Gaafas eennulle yoo raaga dubbate, abbaan isaatii fi haati isaa, «Ati maqaa Mootii Waan Maraatiin soba waan dubbatteef, du'uu qadda» jedhaniin. Yennaa inni raaga dubbatu abbaan isaatii fi haati isaa, isa woraanane ijjeesan.

⁴ Guyyaa san raagaan tokko tokkonuu raaga mudhi'iin dhagge saniif hin qaanowa; namootalle sobiisaaf woyaa rifeensa qaddu hin uffatu.

⁵ Inni, «Ani qonnaan bula'a malee, raaga'aa moti; ani ijoollumma'aan jalqabee nama lafa qotu» hin jedha.

⁶ Nami tokko, «Madaan nafa keeti irraa tun maan?» jedhee yoo isa gaafate, inni deebise, «Mana jaala kiyyaatitti madowe» hin jedhan» jedha.

Tisseen Dhowame, Hooleen Bittinnootte

* **13:1** Hin banama: Yookiin hin madda yookiin hin burqa jedhamuu dande'a.

- ⁷ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Ee, shallaaga'a!
«Tissee kiyya irratti, jaala ani addadhu irratti ka'i!
Hooleen akka bittinnoottuuf, tissee dhowi!
Ani harka kiyya, buruusoo irralle'etti hin deebifadha.
- ⁸ Lafa duudii keessaa, kolbaa harka sad keessaa,
harki lama dhowamee hin bada;
teetuu malee harka sad keessaa,
harki tokko hin hafa.
- ⁹ Worra hafe harka sad san, ibidda keessa buusa;
akkuma meetiin ibiddaan qulleeffantu,
isaan hin qulleessa;
akkuma worqiin ibiddaan haga ilaallantu,
isaan haga hin ilaala.
- Isaan maqaa kiyya hin waaman
anille isaaniif hin dhage'a.
- Ani, «Kolbaa tiyya» isaaniin hin jedha;
isaanille, «Mootiin Waan Maraa
Waaqa keenaa» hin jedhan» jedha.

14

Yerusaalemii Fi Gosa Biyya Adda Addaa

- ¹ Guyyaan muraa Mootii Waan Maraa dhufaara; yennaa san saantoti waan isin irraa fudhatane, ila teessan duratti hin qoqoodaman.
- ² Mootiin Waan Maraa gosi biyya adda addaa duudiin Yerusaalem akka lolanuuf wolitti isaan hin qaba. Qachaan sun hin qabatama; manni hedduun hin saamama; dubartoota hin gudeedan*. Kolbaan gamisi booji'antee deenti; worri hafe ammoo qachaa keessaa hin bayu.
- ³ Achiin duuba Mootiin Waan Maraa akkuma dur lole gosa biyya adda addaa san loliisaaf hin ka'a.
- ⁴ Guyyaa san miilli isaa gaara ejersaa ka Yerusaalem irraa gara aduun baatu jiru irra hin dhaabbata; gaarri ejersaa gara aduun baatu irraa haga gara aduun seentuu dhooqa guddoon addee lamatti hin qoodama; tanaaf gamisi gaaraa sanii gara kaabaa, gamisi gara kibbaatitti hin hiiqa.
- ⁵ Isin dhooqa gaara addee lamatti qooddee haga Azeelii geettu keessa hin baqattan; akkuma bara Uziyaa mootii Yihuda'aa, abbootiin teessan tacho'a lafaa jalaa baqatte, isinille hin baqattan. Mootiin Waan Maraa Waaqi kiyya, ergantoota ifii duudii woliin hin dhufa.
- ⁶ Guyyaa san ifi, boojiin yookiin qorri hin jiraatu.
- ⁷ Guyyaan adda te'e, ka guyyaa yookiin galgala hin qanne, ka Mootii Waan Maraatiin beekkame tokko hin ite'a. Yennaa galgaloottu, ifi hin te'a.
- ⁸ Guyyaa san bisaan jiru'uu Yerusaalem keessaa hin burqa; gamisi isaa gara abbaayaa aduun baatuu, gamisi gara abbaayaa Mediteraaniya'aa, bonaa fi ganna hin yaa'a.
- ⁹ Yennaa san Mootiin Waan Maraa biyya lafaa duudii irratti mootii hin te'a; gaafas nami duudiin Mootiin Waan Maraa isa qofa akka te'e hin dhugeeffatan; maqaa isaa qofa waammatan.
- ¹⁰ Latti duudiin Gebaa gara kaabaa irraa, haga Rimoonii gara kibbaatitti dirree hin teeti. Qachaan Yerusaalemii ammoo, karra Beniyaaminii irraa

* **14:2** Hin gudeedan: Yookiin hunnaan woliin hin rafa.

kaasee, karaa karra duriitiin haga karra roga dalleyaa, akkasuma xelleep-hoo dhaka'aa ta Hanaani'elii irraa haga addee daadhii woynii mootichaa itti cunfanuutitti, ol ka'ee addee ifititti hin hafa.

¹¹ Kolbaan Yersaalem keessa hin leeti; hagonaa achi Yersaalem deebitee hin baddu; kolbaan bidhaa malee leeti.

¹² Mootiin Waan Maraa gosa biyya adda addaa ta Yersaalem loliisaaf kaatu irratti dhukkuba balaa hin fida. Adoo dhaabbataneeranu foon isaanii hin shama; ilti isaanii fi arrabi isaanii hin shama.

¹³ Yennaa san Mootiin Waan Maraa waan guddoo naasisu isaanitti hin fida; nami tokko tokkonuu harkaan wol qabee, wol hin lola.

¹⁴ Worri Yihuda'aa Yersaalemiif rogee hin lolan. Karri gosa biyya adda addaa ta adaala sanii duudiin worqiin hedduun, meetii heddu'uu fi woyaan hedduun wolitti hin qabaman.

¹⁵ Dhukkubi balaan sun ammalle fardoo, gaangee, gaalaa fi harree, horii addee quttumaa diinaa jiru duudii irratti hin bu'a.

¹⁶ Achiin duuba gosi biyya adda addaa, ka Yersaalem lolane keessaa worri jiru'uun hafe duudiin, wogguma wogga'aan Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dade waaqonfatiisaaf, jila gose'eelle jilifatiisaaf gara Yersaalemii ol hin bayan.

¹⁷ Gosa biyya adda addaa keessaa, Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dade mooticha waaqonfatiisaaf, gara Yersaalemii ka ol hin baaneef, bokkeenni hin roobu.

¹⁸ Worri Gibxi'iille jila san jilifatiisaaf gara Yersaalemii yoo ol hin bayin, bokkeya hin dhaggatanu; Mootiin Waan Maraa dhukkuba balaa, ka gosa biyya adda addaa ta gara Yersaalemii ol baatee, jila gose'ee jilifatu didde irratti fide san, isaan irralle'etti hin fida.

¹⁹ Adabbiin worra Gibxi'iitii fi gosa biyya adda addaa, ka ol bayanee jila gose'ee jilifatiisa didanu duudii irratti dhuttu tana.

²⁰ Guyyaa san bilbila morma fardo'oo irratti, «Mootii Waan Maraatiif ka woyyoome» jedhamee hin barreeffama. Okkoteen Galma Waaqaa keessatti itti iffeelatanu akka qorii addee ciinca'aa irraatitti hin woyyoonti.

²¹ Okkoteen itti iffeelatanu ta Yersaalem keessaatii fi Yihudaa keessaa duudiin, Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadeef ta woyyoonte hin teeti. Worri ciincaa dhikeessiisaaf dhufu duudiin, foon ciinca'aa itti hin iffeelan. Yennaa san Galma Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadee keessatti, nami daldalu tokkolle hin jiraatu.

Kitaaba Milkiyaasii Raagichaa Seensa

Kitaab Milkiyaasii raagichaa dhaloota Kiristoosiitiin dura woggaa dhibba shaneesso'oo keessa Galmi Waaqaa ka Yerusaaalem keessaa deebifamee ijaarameen duuba dhaggame; raagichi akka hayyootii fi kolbaan gondoorroo Waaqa woliin galane haareessanu jabeessee yaadachiisa; kolbaan Waaqaa jiruu ifitii fi Waaqa waaqonfatiisaan akka laatteertuu fi addatama dhid-hitteertu ifa. Hayyootaa fi kolbaan ciincaa isaaf male kenniisa dhabiisaa fi akka barsiisa isaattitti le'iisa dhabiisaan Waaqa sobiisatti jiraniyyu. Waaqi ammoo akka karaa qopheessuu fi gondoorroo lallabuuf, ergamaa ifii dursee ergee kolbaa ifiititti muriisaa fi qulqulleessiisaaf hin dhufa.

Haadhoo Dubbi'ii

Jaalala Waaqi kolbaa Israa'eliitiif qabu^{1:1-5}

Mootiin Waan Maraa Hayyoota Xixe^{1:6-2:9}

Waaqaaf addatamuu Dhaba Kolba'aa^{2:10-16}

Guyyaan Mura'aa Dhikaate^{2:17}

Dhufa Mootii Waan Maraa^{3:1-5}

Kudhan Keessaa Tokko Kennuu^{3:6-12}

Marartii Waaqi Kenniisaaf Waadaa Gale^{3:13-18}

Guyyaa Mura'aa^{4:1-6}

¹ Ergaan tun ta Mootiin Waan Maraa karaa raagicha Milkiyaasiitiin kolbaa Israa'eliitiif dubbatte.

Jaalala Mootiin Waan Maraa Kolbaa Israa'eliifi qabu

² Mootiin Waan Maraa kolbaa ifitiin, «Ani isin jaaladhe» jedha; isin ammoo, «Attamiin nu jaalatte?» jettan.

Mootiin Waan Maraa deebisee, «Esaawuu fi Yaaqoob obboleeyyan; ani ammoo Yaaqoob jaaladhee,

³ Esaawuu ammoo jibbe. Biyya koobittii isaalle goomolee godhee, lafa inni dhaalu jeedala goomole'eetiif lakkise» jedhe.

⁴ Sanyiin Esaawuu worri Edoomii, «Qachooti keenna diigamanee tura-neeran; amma ammoo ka diigamane san deebinnee hin ijaarra!» hin jedhan; ammoo Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Isaan hin ijaaran; ani ammoo hin diiga. Kolbaan «Biyyi sun biyya hantu'u; kolbaan biyya saniille kolbaa Mootiin Waan Maraa baraa haga bara baraa itti mufate» hin jetti.

⁵ «Isin kolbaan Israa'elii tana ila teessaniin dhaggitanee, «Meessaa Israa'eliitiin alattille Mootiin Waan Maraa gudda'a» hin jettan» jedhe.

⁶ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade hayyoota isa tuffatanuun, «Ilmi abbaa ifii, hojjataan hojjachiisaa ifii hin ulfeessa; adoo ani abbaa keessan te'eeruu maaf na ulfeessuu dhaddane ree? Adoo ani hojjachiisaa te'eeruu maaf na sodaatuu dhaddane ree? Isin ammoo, «Attamiin si tuffanne?» jettanee gaafattan.

⁷ Isin sagalee battootte addee ciincaan kiyya itti ciinceffamutti ciincessitan; achiin duuba, «Attamiin addee ciinca'aa batteessine?» jettanee gaafattan. Dabaltaneelle, «Addeen Mootii Waan Maraatiif ciincaan itti ciinceffamu ka tuffatame» jettan.

⁸ Horii ballaa yookiin dhibamaa yookiin naafa ciinca'aaf yennaa dhi-keessitanu, kun waan gadhe'ee motii ree? Me waan akkasii bulchaa

keessaniif dhikeessa'a! Inni isinitti hin gammadaa? Gammadee isin irraa hin fudhataa?» jedha Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade.

⁹ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Isin waan akkasii ana Mootii Waan Maraatiif ciincaa ciincessitanee akka ani isiniif araaramu yoo daadimattane, kun dokonkora keessan.

¹⁰ Ani isinitti hin gammadu; ciincaa isin naaf ciincessitanu isin irraa waan hin fudhanneef, akka isin addee ciincaan kiyya itti ciinceffamu irratti ibidda hin gabbinne, maaloo nami isin keessaa balbala Galma Waaqaa cufu adoo jiraatee!

¹¹ Maqaan kiyya gosa biyya adda addaa oddu'utti baya adu'uu irraa haga seensa adu'uutitti guddaa hin te'a; maqaan kiyya gosa biyya adda addaa oddu'utti guddaa waan te'eef, addee maratti ulfinna maqaa kiyyaatiif hixaannii fi kennansi qulqulluun hin dhikeeffama.

¹² «Isin ammoo, «Addeen Mootii Waan Maraa ka dada maraatiif ciincaa itti ciincessanu ta battoote» jettanee sagalee tuffatante achi irratti yennaa dhikeessitane addee ciinca'aa san batteessitane.

¹³ Dabaltaneelle, «Kun eloo qofa!» jettanee itti murgitan; isin horii hatame, horii naafa, horii dhibame fiddanee ciincaa ciincessitan; ani kana ani isin irraa hin fudhadha seetanii?

¹⁴ Nami hoolee ifii keessaa korbeessa fafa hin qanne ka ana Mootii Waan Maraatiif waadaa galeeru adoo qabuu, addee isaa horii fafa qabu sobaan dhikeessu ka abaarame te'uu ti! Ani mootii guddaa waan te'eef, maqaan kiyya gosa biyya adda addaa keessatti sodaatamaa hin te'a» jedha Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade.

2

¹ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, hayyootaan, «Ee hayyoota! Ajaji kun isiniif baye;

² isin yoo naaf dhage'uu diddane, maqaa kiyyaaf ulfinna kenniisaaf yoo itti yaaduu dhaddane, ani abaarsa isin irratti hin erga; eebbaa keessanille abaarsatti hin jijjiirra; waan isin ulfinna naaf kenniisaaf itti yaaduu dhad-daneef, dhuguma ani ammaayyuu isin abaareera.

³ Kunoo, ani sababa keessaniif jedhee, sanyii teessan hin xixa; cumaa horii isin ciinca'aaf qaltanee fuula keessanitti hin diba; cumaa san wolille'een fuula kiyya duraa hin gatantan.

⁴ Achiin duuba gondoeroon tiyya ta ani Lewwii waliin godhe akka hin diiganne, ajaja kana akka ani kenne hin beettan.

⁵ «Gondoeroon tiyya ta isa waliin godhe sun gondoaroo jiru'uu fi nageyaa ti; tana akka inni na ulfeessu isaaf kenne; innille na sodaatee maqaa kiyya ulfeesse.

⁶ Barsiisa dhuga'aa barsiise; dubbiin dabaa afaan isaa keessaa hin baane. Inni nageyaa fi qajeelumma'aan na waliin le'ee, namoota hedduu yakkaa irraa deebiseera.

⁷ Hayyichi beekkumsa dhuga'aa hin eega; inni ergamaa Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadee waan te'eef, nami afaan isaa keessaa barumsa hin barbaada.

⁸ Isin ammoo karaa irraa gortanee namoota hedduulle barsiisa keessaniin gufachiittaneertan; gondoaroo ani Lewwii waliin godhelle diiddaneertan.

⁹ Waan isin ajaja kiyya eeguu diddane, seera kiyya yennaa barsiittanulle nama wol caalchittanuuf, ani ammoo gosa mara duratti akka tuffatantanuuf akka qaanottanu godha» jedha.

Waaqaaf Addatamuu Dhaba Kolbaa Yihuda'aa

¹⁰ Marti keenna abbaa tokkocha qannaa motii? Waaqa tokkochattuu nu maraayyuu dadee motii? Maaniif nuuti wolii wolii keennaaf addatamuu dhannee, wol irratti ka'iisaan gondooroo Mootiin Waan Maraa abbootii teenna waliin godhe maaf diinna ree?

¹¹ Kolbaan Yihudaan hin addatanne; Israa'elii fi Yerusaalem keessatti waan Waaqi jibbu hujane; isaan dubartoota waaqota dharaa waaqonfattu fuudhanee addee Galma Waaqaa san batteessan.

¹² Eennulle nama waan akkasii huju kanaaf yoo falmate, yookiin akka inni fudhatama dhaggatu yoo dubbate, yookiin isaaf Mootii Waan Maraa Ka bara baraa ka dada mara ajajuuf kennansa yoo dhikeesse, Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade nama san sanyii Yaaqoobii keessaa balleessuu ti.

¹³ Wonni dhibiin isin gootanu ammoo addee ciinca'aa ta Mootii Waan Maraa imimmaaniin dhixxan; hagaraa achi Mootiin Waan Maraa kennansa keessan gammadaan waan isin irraa hin fudhanneef, hin boottan; hin iyyitanille'e.

¹⁴ Isin «Kun maaf te'a?» jettanee gaafatan; isin waa'ela teessan ta teetee muttaaraa teessaniif addatamuu waan dhaddaneef tun teete; Mootiin Waan Maraa isinii fi muttaaraa teessan oddu'utti dhugaa bayaa te'eeraayyu.

¹⁵ Waaqi isinii fi muttaaraa teessan foonii fi Ayyaanalle'een tokko hin goonee ree? Maaf tana godhe? Sanyii Waaqa sodaattu waan barbaadeeruuf tana godhe; tanaaf ifi eeggadha'a! Muttaaraa teessaniif addatamummaa hin dhabina'a.

¹⁶ Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, «Ani nama niitii ifii lakkisu jibba; ani akka nama woyaa akka kaso'oon uffatuu nama waan hantuu godhulle jibba; tanaaf ifi eeggadha'a; addatamummaalle hin dhabina'a!» jedha.

Guyyaan Mura'aa Dhikaate

¹⁷ Isin jechoota keessaniin Mootii Waan Maraa dadhassiittaneertan; ammoo, «Attamiin isa dadhassiinne?» jettanee gaafattan; isin «Worri waan hantuu huje martinuu Mootii Waan Maraa duratti dansa'a; inni isaanitti hin gammada; yookiin abbaan mura'a dhuga'aa eessa jira?» jettanee gaafati-isaan isa dadhassiittan.

3

Dhufa Mootii Waan Maraa

¹ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Kunoo, ani ergamaa kiyya ka karaa naaf qopheessu ifiin dura erga; dedhuma Gootaan isin barbaaddanu sun gara Galma ifii hin dhufa; kunoo, ergamaan waadaan galame ka isin halchitanu sun hin dhufa» jedha.

² Ammoo guyyaa dhufa isaatitti eentu ossuu dande'a? Yennaa inni mudhatu eentu isa dura dhaabbatuu dande'a? Inni akka ibidda sibiila baqisiisuu ti; akka saamunaa woyaa ittiin borcanuu ti.

³ Inni akka nama sibiila baqisiisuu ti; akka nama meetii qulleessuu te'ee sanyii Lewwootaa baqisiisee akka worqi'ii fi akka meeti'ii isaan hin qulleessa; isaanille worra Mootii Waan Maraatiif ciincaa balchicha ciincesanuu hin te'an.

⁴ Achiin duuba ciincaan Yihuda'aatii fi ciincaan Yerusaalemii akka baroota dabaranee, akka woggoota durii sanitti Mootii Waan Maraa duratti fudhatama hin qabaata.

⁵ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Ani mura'a kenniisaaf isinitti dhikaadheera; worra namatti xanu irratti, worra gaarayyeffatu irratti, worra sobaan kakatu irratti, namoota worra hojjatoota, haadha hiyyeessaatii fi ijoollee abba'aa fi haati hin jirre cunqursanu irratti, worra

nama alaga'aa muraa haqaa dhooggatu irratti, worra na hin sodaanne irrattille dafee dhugaa hin baya.

Kudhan Keessaa Tokko Kennuu

⁶ «Ani Mootii Waan Maraa ti; ani anuma; ani hin jijjiiramu; isinille diqqumaayyuu hin jijjiiranne; isin haga ammaa ijoollee Yaaqoobii sobaa-lessaa ti.

⁷ Bara abbootii teessanii irraa jalqaddanee haga ammaatitti isin seerata kiyya irraa gortaneertan; isalle hin eeganne; ani Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Gara kiyya deebi'a! Anille gara keessan hin deebi'a!» isiniin jedheera; isin ammoo, «Attamiin deebina?» jettan.

⁸ Nami Waaqa hin saamaa? Te'uu malee isin na saamiisatti jirtan! Isin ammoo, «Attamiin si saamiisatti jirra?» jettanee hin gaafattan; isin kudhan keessaa tokko kennuu dhabiisaan, kennansa kennuu dhabiisalle'een na saamiisatti jirtan.

⁹ Isin, gosi teessan martinuu na waan saamiisatti jirtanuuf, isin abaaran-taneertan.

¹⁰ Mana kiyya keessa sagaleen akka jiraattuuf kudhan keessaa tokko guutumatti gootaraa kiyyatti galcha'a! Ani foddaa ol-gubba'aa banee, eebba irraan dhangala'u yoo gad isiniif jissuu dhabaadhe na ilaala'a!

¹¹ Corroxxi adda addaa midhaan keessan akka hin balleessine ani hin xixa; fichaa keessan keessaa muki woyni'ii keessan ka midhaan dhabe hin te'u.

¹² Isin biyya nama gammachiittu keessa waan leetanuuf gosi biyya adda addaa martinuu, «Isin worra eebbifame» isiniin jedhan.

Marartii Waaqi kenniisaaf Waadaa Gale

¹³ «Mootiin Waan Maraa, «Isin na irratti dubbii badduu dubbattaneertan» jedhe; te'uu male isin, «Maan si irratti dubbanne?» jettan;

¹⁴ isin, «Waaqa tajaajiluun bu'aa hin qabu; akka worra gaddaneetitti fuula Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara dande'u dura deddeebi'aa adoo jirruu, waan inni ajaje eeguun keenna maan wo nuu baati?

¹⁵ Akkuma dhagginu, worri koorameeyyiin gammada qaban; worri hantuu hujuu badhaadhiisa callaa adoo hin te'in, yennaa Waaqa haga ilaalan-ulle rakkoon isaan hin dhaqqaddu» jettan» jedha.

¹⁶ Achiin duuba worri Mootii Waan Maraa sodaatu waliin dudubbatane; Mootiin Waan Maraa isaan caqasee, waan isaan dudubbatane dhage'e; kitaab dabarsii marroo worra isa sodaatanuutii fi worra maqaa isaa ulfeessanuu, fuula isaa duratti barreeffame.

¹⁷ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Guyyaa ani murteeffadhe sanitti isaan qabeenna kiyya ka addaa hin te'an; akkuma worri ijoollee isaaniif tajaajiltu mararfatu akkasuma anille isaan mararfadha.

¹⁸ Yennaa sanitti isin garaagarummaa worra balcha'aa fi worra hamaa odduu jirtu, garaagarummaa worra Waaqa tajaajilu fi hin tajaajille odduu jirtulle hin dhaggitan» jedha.

4

Guyyaa Dhufa Mootii Waan Maraa

¹ Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Kunoo, guyyaan akka barbada ibiddaa gubu dhufaara; yennaa sanitti worri kooruu fi worri hantuu huju martinuu akka hicaace'ee ti; guyyaan dhufu sun isaan hin guba; hidda yookiin damee isaaniif hin lakkisu.

² Isin worra maqaa kiyya sodaattanuuf ammoo aduun balchummaa isiniif fidduu fi ta koalli isi'ii fayyinna ifi keessaa qabu isiniif hin baati; isin akka waatolee gooree keessaa gad baatee hin burraaxxan.

³ Isin yennaa san worra hamoota san irra hin sirbitan; guyyaa ani waan kana godhu san faana teessan jalatti daadhaa hin te'an.

⁴ «Barsiisa garbicha kiyya Muuse'ee, seerataa fi ajaja ani gaara Horeebii irratti kolbaa Israa'elii maraaf isatti kenne qaabadha'a.

⁵ «Kunoo, guyyaan kiyya gudda'aa fi sodaachisaan sun adoo hin dhufiniin dura, ani Eliyaasii raagicha isiniif hin erga.

⁶ Ani dhufee, lafa abaarsa itti buusee akka hin balleessine, inni gadhaa abbooti'ii gara ijoollee isaanii, gadhaa ijoollee isaanii gara abbootii isaanii hin deebisa» jedha.

Wongeela Gootaa Keenna Yesuus Kiristoosii Ka Maatewoos Barreesse Seensa

Wongeelli Maatewoosii: Yesuus fayyisaa dhufiis isaa duraanuu waadaan galame akka te'ee fi Waaqi Gondoaroo Qaraa keessatti kolbaa ifitiif gale karaa isaatiin akka muummesse Oduu Gammadaa odeessa. Oduun Gammadaa tun worra Yesuus odduu isaaniititti dhalatee guddate, Yihudoota qofaaf adoo hin te'in, biyya lafaa duudi'iif teeti.

Wongeelli Maatewoosii ifi eegganna'aan kitaaba qophoweeru. Dhaloota Yesuusiitiin jalqabee, cuuphama isaatii fi ataabama isaa, achiin duuba Galiilaa keessatti tajaajila lallaba isaa, barsiisiisaa fi fayyisiisa isaa issa. Kanaan duuba deemmaa Yesuus Galiilaa irraa gara Yersaaleemii deemee fi torbaan Yesuusii ta dhumarraa keessatti waan te'e galmeessee, fannifamiisaa fi ka'iisa isaatiin fixa.

Wongeelli kun akka barsiisaa gudda'aa, ka Seera Waaqaa hiikiisaaf baallii qabuu, ka marroo mootummaa Waaqaalle barsiisuutitti Yesuus dhikeessa. Barsiisi isaa bacaan ka marroo waan adda addaa, addee shanitti wolitti qabama:

1. Lallaba gaara irraa, ka amala, hujii, haqaa fi hiree muumme'ee ta worra mootummaa ol-gubba'aa ilaalu (foora 5-7).
2. Barattooti kudhanii lama Wongeela lallabiisaaf yennaa wolitti qabamane qajeelfama kenname (foora 10).
3. Mammaassa adda addaa ka marroo mootummaa Waaqaatiif dhikaate (foora 13).
4. Barnoota hiikkaa barattumma'aa himu (foora 18).
5. Marroo muumme bara ammaatii fi dhufiisa mootummaa ol-gubba'aa barsiisa kenname (foora 24-25).

Haadhoo Dubbi'ii

Hiddaa Fi Dhaloota Yesuus Kiristoosii 1:1–2:23

Tajaajila Yohaannisii Cuupha'aa 3:1-12

Cuuphamaa fi ataabama Yesuusii 3:13–4:11

Tajaajila Yesuus Galiilaa keessatti ifatti tajaajile 4:12–18:35

Galiilaa irraa gara Yersaaleemii 19:1–20:34

Torbaan dhumaa irratti Yersaaleem keessaa fi adaalatti 21:1–27:66

Du'aa ka'iisaa fi mudhatiisa Goota'aa 28:1-20

Hidda Dhaloota Yesuus Kiristoosii

(Luq. 3:23-38)

¹ Hiddi dhaloota Yesuus Kiristoosii sanyii Abrahaamiitii fi sanyii Daawitii kana.

² Abrahaam Yisihaq uumate; Yisihaq Yaaqoob uumate; Yaaqoob Yihuda'aa fi obboleeyyan Yihuda'aa uumate;

³ Yihudaan Taamaar irraa Faaresii fi Zaaraa uumate; Faares Hesrom uumate; Hesrom Aaram uumate;

⁴ Aaram Aminaadaab uumate; Aminaadaab Nahasoon uumate; Nahasoon Salmoon uumate;

⁵ Salmoon Rahaab irraa Bo'az uumate; Bo'az Ruuti irraa Yoobeed uumate; Yoobeed Isey uumate;

⁶ Isey Daawitii mooticha uumate; Daawiti haadha manaa Uriiyaa irraa Solomoon uumate;

⁷ Solomoon Rehobiyaam uumate; Rehobiyaam Abiiyaa uumate; Abiiyaan Asaafi uumate;

⁸ Asaafi Yoshaafaax uumate; Yoshaafaax Yoraam uumate; Yoraam Oziyaas uumate;

⁹ Oziyaas Yo'ataam uumate; Yo'ataam Akaaz uumate; Akaaz Hisqiyaas uumate;

¹⁰ Hisqiyaas Minaasee uumate; Minaaseen Amos uumate; Amos Yosiyaas uumate;

¹¹ Yosiyaas bara kolbaan Israa'elii gara biyya Baabilonii booji'ante Yekoniyaasii fi obboleeyyan Yekoniyaasii uumate.

¹² Kolbaan Israa'elii gara biyya Baabilon booji'anteen duuba Yekoniyaas Salaati'el uumate; Salaati'el Zarubaabel uumate;

¹³ Zarubaabel Abiyuudin uumate; Abiyuudin Eliyaaqim uumate; Eliyaaqim Azor uumate;

¹⁴ Azor Zaadoq uumate; Zaadoq Akiim uumate; Akiim Eliyud uumate;

¹⁵ Eliyud Ele'azaar uumate; Ele'azaar Maattaan uumate; Maattaan Yaaqoob uumate;

¹⁶ Yaaqoob Yoseef uumate; Yoseefiin kun ka Maariyaam fuudhe; isiin, ka, «Masiihii» jedhamee moggaafame, ta Yesuus deette.

¹⁷ Tanaaf Abrahaam irraa kaasee haga Daawitiititti dhaloota kudhanii afuritti jira; Daawiti irraa kaasee haga bara kolbaan Israa'elii gara biyya Baabilonii booji'antetti dhaloota kudhanii afuritti jira; booji'ama gara Baabiloniitii haga dhaloota Masiihiille'etti dhaloota kudhanii afuritti jira.

Dhaloota Yesuus Kiristoosii (Luq. 2:1-7)

¹⁸ Dhalooti Yesuus Kiristoosii akkana. Haati isaa Maariyaamiin Yoseefiif kadhateerte adoo isaan wol bira hin geyin dura, Ayyaana Woyyichaan ulfoottee dhaggante.

¹⁹ Yoseefiin isii kadhateeru sun nama balchaa waan te'eef, kolbaa duratti Maariyaamii qaanessuu hin barbaanne; maarre dhokaataan isii lakkisiisaaf yaade.

²⁰ Adoo inni tana yaadiisatti jiruu, ergamaan Waaqaa oojju'uun isatti mudhatee, «Yoseefii sanyii Daawitii! Maariyaamiin ati kadhatteertu, Ayyaana Woyyichaan waan ulfootteertuuf, akka niitii teeti teetu gara mana keetii fudhatiisaaf hin sodaatin.

²¹ Isiin ilma hin deetti; inni waan kolbaa ifii cubbuu irraa fayyisuuf, maqaa isaa, «Yesuus» jettaan» jedheen.

²² Kun martinuu wonni Gootaan karaa raagichaatiin dubbateeru akka muummottuuf teete.

²³ Wonni dubbatameerulle, «Durri duudduun hin ulfootti; ilmalle hin deetti; maqaa isaalle, «Amaanu'el» jedhamee waamama;» «Amaanu'el» jechuun, «Waaqi nu woliin jira» jechu'u.

²⁴ Maarre Yoseef yenna dammaqe, akkuma ergamaan Goota'aa itti hime, Maariyaamii kadhateeru akka niiti'iititti gara mana ifii fudhate.

²⁵ Te'uu malee haga isiin ilma deettutti akka niiti'iititti isii bira hin geenne. Yoseef maqaa isaa Yesuus jedheen.

2

Dhufa Beekkolee Urjii Qorqortuu

¹ Bara Heroodis mooticha te'eeru, qachaa Beeteelemii, ka Yihudaa keessaatitti Yesuus dhalate. Achiin duuba adoo hin turin beekkoleen urjii qorqortu karaa baya adu'uutii gara Yersaaleemii dhufanee,

² «Mucaan mootii Yihudootaa te'iisaaf dhalate, eessa jira? Nuuti urjii isaa karaa aduun baatutti dhagginee, isatti sagadiisaaf dhunneerra» jedhanee iyyaafatane.

³ Mootichi Heroodis yennaa waan kana dhage'e rifate; worri Yerusaalemii martille isa woliin rifate.

⁴ Inni sooreyyii hayyootaatii fi barsiisota Seeraa wolitti qabee, «Masiihiin eessatti dhalata?» jedhee isaan gaafate.

⁵ Isaan, «Beeteelemii Yihudaa keessaatitti dhalata; raagichi:

⁶ «Ati Beetelemiin Yihudaa keessaa!
Qachoota gugurdaa Yihudaa keessaa mara caalaa
ijjumaayyuu hin diqqaattu;
sababille ka kolbaa tiyya Israa'el bulchu
bulchaan si keessaa baya» jedhee barreesseera» jedhaneen.

⁷ Heroodis dhossa'aan worra urjii qorqoru san waamee yennaa urjiin itti mudhatte isaan irraa gaafatee hubate.

⁸ Achiin duuba, «Dhaqa'aatii, marroo muca'aa miidhassa'aa qorqora'a; yennaa isa dhaggitane, anille dhagee akka sagaduuf natti hima'a» jedhee, gara Beeteelemii isaan erge.

⁹ Isaan yennaa waan mootichi jedhe dhage'ane, ka'anee yaa'ane; karaa irralle'etti urjiin isaan karaa aduun baatutti dhaggane tuun, addee mucaan jiru san gubba'atti haga dhaabbattutti isaaniin dura ideente.

¹⁰ Isaan yennaa urjii dhaggane, akka malee gammadane.

¹¹ Mana seenanee, mucaa haadha isaa Maariyaam woliin dhagganee, gad jiganee isaaf sagadane. Achiin duuba subba ifii bananee worqii, hixaanaa fi qumbii isaaf kennane.

¹² Achiin duuba isaan gara Heroodisii akka hin deebineef, Waaqi oojuu'uun waan isaan if eeggachiiseef, karaa dhibi'iin gara biyya ifii deebi'ane.

Gara Biyya Gibxi'ii Baqatane

¹³ Eega beekkoleen sun gara biyya ifii deebi'ane, ergamaan Goota'aa oo-jju'uun Yoseefitti mudhatee, «Heroodis mucaa ijjeesiisaaf waan barbaaduuf, ka'iitii, muca'aa fi haadha isaa fudhadhuu gara biyya Gibxi'ii baqadhu; haga ani sitti himutti achi turi» jedheen.

¹⁴ Maarre Yoseef ka'ee, muca'aa fi haadhaa muca'aa fuudhee, gara biyya Gibxi'ii halkanuma san deeme.

¹⁵ Haga Heroodis du'u achi ture; Gootaan afaan raaga'aatiin, «Ani biyya Gibxi'iitii mucaa kiyya waame» jedhee wonni dubbateeru akka muummot-tuuf tun teete.

Ijjeechaa Ijoolle'ee

¹⁶ Worri urjii qorqoru akka isa sobe yennaa hubate, Heroodis akka malee aare. Yennaa urjiin itti mudhatte worra urjii qorqoru irraa akka gaafatee hubatetti, ijoollee Beeteelem keessaatii fi adaala isi'ii maraa, ta woggaa lamaa yookiin achii gadii loltoota ifii ergee ijjeesisiise.

¹⁷ Akka kanaan wonni raagichi Ermiyaas jedhe muummotte;

¹⁸ wonni inni raagelle:

«Qoonqoon Raama'atti dhage'ante,
qoonqoo wiiccifataa fi bowaa ti.
Raahel ijoollee ifitiif bootte;
ijoolleen isi'ii waan dhumatteef,
jajjabaachuu didde» ka jedhu.

Biyya Gibxi'iitii Gara Naaziretii Deebi'ane

¹⁹ Heroodis du'een duuba, ergamaan Goota'aa biyya Gibxi'ii keessatti oojju'uun Yoseeffitti mudhatee,

²⁰ «Worri mucaa ijjeesiisaaf barbaadu waan du'eef, ka'iitii, muca'aa fi haadha isaa fudhadhuutii, gara biyya Israa'elii deebi'i» jedheen.

²¹ Maarre Yoseef ka'ee, muca'aa fi haadha muca'aa fudhatee, gara biyya Israa'elii deebi'e.

²² Arkelaawoos addee abbaa ifii Heroodisii biyya Yihuda'aa akka bulchisatti jiru yennaa dhage'e ammoo, Yoseef achi deemiisa sodaate. Oojju'uun gorfamee, gara lafa Galiila'aa dhaqee,

²³ raagoti marroo Yesuusiitiif, «Inni Naazireeticha hin jedhama» wonni jette akka muummottu qachaa Naaziret jedhamu dhaqee le'e.

3

Lallaba Yohaannisii Cuupha'aa

(*Mar. 1:1-8; Luq. 3:1-18; Yoh. 1:19-28*)

¹ Bara san Yohaannisii cuuphaan goomolee biyya Yihuda'aa keessa lallabaa dhufee,

² «Mootummaan ol-gubba'aa waan dhikaatteef cubbuu irraa deebi'a!» jedhe.

³ Isaayaasiin raagichi,
«Nami tokko goomolee keessaa iyyaa,
«Karaa Goota'aaf qopheessa'a;
daandii inni irra deemu qajeelcha'a!» »
yennaa jedhe inni marroo Yohaannisii dubbate.

⁴ Uffanni Yohaannisii rifeensa gaalaa irraa dhowameeraayyu; inni hidha ifii teephaan hidhate; sagaleen isalle awwaannisaa fi damma hollaa ti.

⁵ Yersaalem irraa, Yihudaa irraa, biyya cinaa laga Yordaanosii mara irraa kolbaan gara isaa dhutte.

⁶ Isaan cubbuu ifii dhugaa baasane* , laga Yordaanosiititti harka Yohaannisii itti cuuphamane.

⁷ Yohaannis Fariisaayotaa fi Saduqoota hedduu cuuphamiisaaf gara isaa dhufiisatti jiranu yennaa dhagge, «Isin ilmaan buuti'ii! Akka isin mufii Waaqaa ta isinitti dhufaartu jalaa baqattanuu eennutti isinitti hime?

⁸ Cubbuu teessan irraa akka deebitane waan mudhisu tolcha'a.

⁹ «Abbaan keenna Abrahaam» jedhiis isin hin baasa hin seyina'a. Waaqi dhakoota kana fuudhee Abrahaamiif ilmaan tolchiisa akka dande'u ani isinitti hima.

¹⁰ Agaraan mukoota hiddatti muriisaaf qophoweera; muki midhaan dansaa hin buunne muramee ibiddatti hin gatama.

¹¹ Akka isin cubbuu irraa deebitane mudhisiisaaf ani bisaaniin isin cuupha, ka ana duubaan dhufaaru ammoo Ayyaana Woyyichaa fi ibiddaan isin cuupha. Inni guddoo na caala; ani kophee isaatuu ba'atiisaafille nama te'uu moti.

¹² Inni eeddumme† ifii keessatti midhaan qulleessiisaaf horooroo harkatti qabateera; midhaan qulleessee gootara'atti hin galcha; hicaace‡ ammoo ibidda hin dhaanneen guba» isaaniin jedhe.

Cuuphamiisa Yesuusii

(*Mar. 1:9-11; Luq. 3:21-22*)

¹³ Yesuus yennaa san Yohaannisii cuuphaan akka isa cuuphuuf gara laga Yordaanosii dhufe.

* **3:6** Dhugaa baasane: Faaci'atane, waakanee, himatane
Eeddumme: Ooddii ‡ **3:12** Hicaace: Huura

3:7 Mat. 12:34; 23:33 † **3:12**

¹⁴ Yohaannis ammoo, «Ani si'iin cuuphamu'uu male, ati maaf gara kiyya dhutta?» jedhee isa dhoogge.

¹⁵ Yesuus ammoo deebisee, «Karaa kanaan balchummaa mara muummessu'uu waan malleef, amma na dhoogguu lakkisi» jedheen; achiin duuba Yohaannis lakkise.

¹⁶ Yesuus cuuphamee bisaan keessaa akkuma bayeen, ol-gubbaan bannatee Ayyaanni Waaqaa saphaliisa fakkaatee gad dhufee isa irra bu'uun dhagge.

¹⁷ Ol-gubbaa irraa qoonqoon, «Kun Ilma kiyya jaalatama'a, ka ani guddoo isatti gammadeeru» jette.

4

Ataabamuu Yesuusii (Mar. 1:12-13; Luq. 4:1-13)

¹ Achiin duuba akka Yesuus Seexanaan ataabamu Ayyaanni Woyyichi gara goomole'ee geesse.

² Yesuus guyyaa afurtamaa fi halkan afurtama laameen duuba beelote.

³ Achiin duuba Seexanni gara isaa dhufee, «Ati Ilma Waaqaa yoo teete, dhakaan kun daabboo akka te'u ajaji» jedhe.

⁴ Yesuus ammoo, «Barreeffam Woyyichi, «Jecha afaan Waaqaa keessaa bawu maraan malee, nami sagalee calla'aan hin le'u» jedha» jedhee deebise.

⁵ Achiin duuba Seexanni gara Qachaa Woyyichaa gara Yerusaleemii Yesuus geessee, qaccee guutuu Galma Waaqaa gubbaa isa dhaabbachiisee,

⁶ «Barreeffam Woyyichi,
«Miilli keeti dhaka'aan akka hin gufanne,
akka isaan harka ifitiin si kiphanuuf,
ergantoota ifii hin erga» waan jedhuuf,
Ilma Waaqaa yoo teete asi irraa gad if darbi» jedheen.

⁷ Yesuus deebisee, Barreeffam Woyyichi, ««Gootaa Waaqa keeti haga hin ilaalin» jedha» jedheen.

⁸ Achiin duuba Seexanni gaara dheeraa tokko gubba'atti isa baasee, mootummoota biyya lafaa mara, ulfinna isaanii mara woliin itti mudhisee,

⁹ «Gad jiddee yoo naaf sagadde, waan kana maraa si'iif hin kenna» jedheen.

¹⁰ Yesuus deebisee, «Seexana, bayyadhu! Barreeffam Woyyichi, «Gootaa Waaqa keetiif sagadi, isa callaa tajaajili» jedha» jedheen.

¹¹ Achiin duuba Seexanni Yesuus lakkisee deeme; ergantooti Waaqaalle dhufanee isa tajaajilane.

Yesuus Galiila'atti Hujii jalqabe (Mar. 1:14-15; Luq. 4:14-15)

¹² Yesuus hidhama Yohaannisii yennaa dhage'e, gara Galiila'aa deebi'e.

¹³ Qachaa Naaziretii lakkisee, lafa Zabalooniitii fi Niftaalem keessa, cinaa abbaayaa Galiila'aa, qachaa Qifirnaahoom keessa le'e.

¹⁴ Wonni Isaayaasiin raagichi raagee,

¹⁵ «Lafa Zabalooniitii fi lafa Niftaalemii,
Yordaanosiin gama, karaa gara abbaaya'aa geessu gubbaa jirtu,
Galiilaa, lafa worra Yihudootaa hin te'inii!

¹⁶ Kolbaan dukkana keessa leete,
ifa guddaa dhaggite.

Worra lafa gaaddisa du'aa keessa le'uuf,

ifi ife» jedhe akka muummottuuf tun teete.

¹⁷ Yennaa sanii jalqabee Yesuus, «Mootummaan Waaqaa waan dhikaatteef, cubbuu teessan irraa deebi'a'a!» jedhee lallabiisa jalqabe.

Yesuus Barattoota Jalqabaa Arfan Waame

(Mar. 1:16-20; Luq. 5:1-11)

¹⁸ Yesuus abbaayaa Galiila'aa qargaraan adoo dabaruu, guurtuu qurxummi'ii ka te'ane obboleeyyan lamaan: Simoon ka Pheexroos jedhamee fi Indiryaasiin obboleessi Simoonii caccoo* abbaaya'atti afanuun dhagge.

¹⁹ Yesuus isaaniin, «Na hordofa'a! Ani guurtuu namaa isin tolcha» jedhe.

²⁰ Isaan yennuma san caccoota ifii lakkisane isa hordofane.

²¹ Inni akkuma achii deemeen, obboleeyyan lamaan Yaaqoobii fi Yohaannis, ilmaan Zabdewoosii dhagge. Isaan hoboloo ifii keessatti abbaa ifii Zabdewoos woliin caccoota ifii subbiisatti† jiraniyyu. Yesuus isaan waame;

²² isaanille yennuma san hobolo'oo fi abbaa ifii lakkisane, isa hordofane.

Barsiisiisa, Lallabiisaa Fi Fayyisiisa Yesuusii

(Luq. 6:17-19)

²³ Yesuus manoota waaqonfannaa Yihudootaa keessatti barsiisaa, Oduu Gammadaa ta marroo mootummaa Waaqaa lallabaa, dhibe'ee fi dhukkuba adda addaa mara irraa kolbaa fayyisaa Galiilaa duudii keessa deddeeme.

²⁴ Gurri isaa biyya Sooriya'aa maratti dhage'ame; waan kanaaf worra dhibameeru, dhukkuba adda addaati fi dhibe'een farru, worra ayyaanni hamaan qabeeru, worra gaggaadduu qabuu fi worra laashoweru mara kolbaan gara isaa fidde. Yesuusille isaan fayyise.

²⁵ Achiin duuba gumiin hedduun Galiilaa irraa, Qachaa qachoota Kudhan jedhamu irraa, Yersaalem irraa, Yihudaa irraa, Yordaanosiin gamalle'ee isa hordofane.

5

Barumsa Yesuus Gaara Irratti Barsiise

(Mat. 5–7)

¹ Yesuus yennaa gumii hedduu dhagge, gaaratti ol bayee tee'e; barattooti isaalle gara isaa dhufane.

² Achiin duuba inni isaan barsiisiisa jalqabee:

Gammada Dhuga'aa

(Luq. 6:20-23)

³ «Worri le'ii Ayyaanaatiin hiyyeeyyii akka te'ane itti dhage'antu gammaduu; mootummaan Waaqaa ta isaanii ti!

⁴ Worri gadde gammaduu;
Waaqi isaan hin jajjabeessa!

⁵ Worri ifi gad qabu gammaduu;
isaan lafa hin dhaalan*!

⁶ Worri balchummaa beelotuu fi dheebotu gammaduu;
Waaqi isaan hin quussa.

⁷ Worri namaaf mararfatu gammaduu;
Waaqi isaaniif hin mararfata!

⁸ Worri gadhaa qullu'uu gammaduu;
isaan Waaqa hin dhagga!

^{4:16} Isa. 9:1-2 ^{4:17} Mat. 3:2 * ^{4:18} Caccoo: Waan qurxummi'iin guuranu † ^{4:21} Subbiisatti:

Midhaaffatiisatti, qopheeffatiisatti ^{4:23} Mat. 9:35; Mar. 1:39 * ^{5:5} Hin dhaalan: Addii Waaqi kenne hin fudhatan

⁹ Worri nageya buusu gammaduu;

isaan ijoollee Waaqaa hin jedhaman!

¹⁰ Worri balchumma'aaf miidhamu gammaduu;

mootummaan Waaqaa ta isaanii ti!

¹¹ «Sababa kiyyaaf jettee yennaa kolbaan isin arrassitee, isin miitee, dharaan gurra isin balleessite gammada'a.

¹² Isaan raagota worra isiniin duraatuu akkasuma miidhane. Gatiin teessan ol-gubba'atti guddoo waan teeteef, gammada'aatii ilillisa'a» isaniin jedhe.

Sooddaa Fi Ifa

(Mar. 9:50; Luq. 14:34-35)

¹³ Yesuus itti dabalee, «Isin soodda lafaa ti; ammoo sooddi yoo kuraa ifii dhabe, attam deebi'ee kuraawuu dande'a? Alatti gatamee miilaan dhiitama† malee, womaa bu'aa hin qabu.

¹⁴ «Isin ifa biyya lafaa ti. Qachaan gaara gubba'atti ijaarame dhokatiisa hin dande'u.

¹⁵ Eennulle ifa issee, akka nama mana keessa jiru maraaf ifa kennu, waan ifi irra keyamu irra keya malee, gonbisoo jala hin keyu.

¹⁶ Akkasuma akka kolbaan hujii dansaa teessan dhaggitee Abbaa keessan ka ol-gubbaa jiru ulfeessitu, ifi keessan nama duudii duratti ifuu ti» jedheen.

Seeraa Fi Barsiisa Raagotaa

¹⁷ Yesuus, «Ani Seeraa fi barsiisa raagotaa diigiisa dhufe hin seyina'a. Ani barsiisa isaanii muummessiisaaf dhufe malee, diigiisaaf hin dhunne.

¹⁸ Ani dhugumaan isinitti hima, haga ol-gubba'aa fi latti dabartutti Seera keessaa qubeen takkaan, bixxilleen‡ adoo hin muummowin hin baddu.

¹⁹ Tanaaf nami ajajoota kana keessaa ka irra diqqa'aa tokko diigee, akka diiganu namoota barsiisu, mootummaa Waaqaa keessatti ka irra diqqaatu hin jedhama; nami ajajoota kana eegee akka eeganu barsiisu ammoo, mootummaa Waaqaa keessatti guddaa hin jedhama.

²⁰ Ani isinitti hima, balchummaan teessan balchummaa worra barsiisota Seeraatii fi Fariisaayotaa yoo caalte malee, mootummaa Waaqaatitti ijjumaa hin galтану» isaniin jedhe.

Lubbuu Ijjeesuu Hin Barbaachisu

²¹ Yesuus itti dabalee, ««Hin ijjeesin; nami nama ijjeese mura'aaf dhikaata» jedhamee worra duriititti akka himameeru dhageettaneertan.

²² Ani ammoo isinitti hima, eennulle sababa malee obboleessa yookiin obboleettii ifiititti yoo mufate mura'aaf dhikaata; obboleessa ifitiin, «Gowwa'a!» yoo jedhe, kora mura'aa dura dhikaata; obboleessa ifitiin, «Daallee!» yoo jedhe gara mura'a qilee ibiddaa dhikaata.

²³ Maarre kennansa keeti Waaqaa dhikeessiisaaf addee ciincaa itti ciincesanutti fiddee, waan obboleessi keeti sitti quuqameeru yoo qaabatte,

²⁴ kennansa keeti achuma addee ciinca'aa duratti lakkisiitii, dhaqii obboleessa keeti waliin araaramii, achiin duuba deebi'iitii kennansa keeti dhikeessi.

²⁵ «Nama si himate tokko waliin gara mura'aa adoo ideentuu dafii karaa irratti isa waliin woliin gali. Achi geettee jennaan, abbaan mura'aa ka si hidhutti dabarsee si kennee, ka si hidhu mana hidha'aatitti si galcha.

5:10 1 Phex. 3:14 † 5:13 Dhiitama: Irra sirbama 5:13 Luq. 14:34-35 5:16 1 Phex. 2:12 ‡ 5:18 Bixxilleen: Boqqoorri qubee takka'aa 5:18 Luq. 16:17

²⁶ Ani dhugumaan sitti hima, waan sitti murame keessaa saantimiin cadduulle adoo hin hafin haga kaffaltutti ijjumaa hin baatu» jedhe.

Marroo Gaarayyeeffataa

²⁷ Yesuus, «*«Hin gaarayyeeffatin» akka jedhame dhageettaneertan.*

²⁸ Ani ammoo isinitti hima: nami ila halcha'aatiin dubartii ilaale, gadhaa ifii keessatti isii gaarayyeeffateera.

²⁹ Ilti teeti ta middaa yoo cubbuu si hujisiitte, ifi keessaa baasiitii gati; nafi keeti duudiin gara qile'ee gatamu'uu mannaa, nafa keeti keessaa tokko fafoottu si'iif woyya.

³⁰ Harki keeti ka middaa yoo cubbuu si hujisiise, ifi irraa kutiitii gati; nafi keeti duudiin gara qile'ee deemu'uu mannaa, nafa keeti keessaa tokko dhabuu si'iif woyya» jedhe.

Marroo Wol Lakkisiisa Dhirsaa Fi Niiti'ii (*Mat. 19:9; Mar. 10:11-12; Luq. 16:18*)

³¹ Ammalle Yesuus, «*«Nami niitii lakkisu mara woraqata lakkeessaa barreessee isi'iif kennuu ti» jedhameeraayyu.*

³² Ani ammoo isiniin jedha, yoo isiin gaarayyeeffatte malee, nami niitii ifii lakkisu, akka isiin gaarayyeeffattu hin godha; nami isii fuudhelle hin gaarayyeeffata» jedhe.

Marroo Kaku'uu

³³ Yesuus, «Ammalle, «*Dharaan hin kakatina'a; waan Gootta'aaf kakattane ammoo godha'a» akka worra duriitiin jedhame isin dhageettaneertan.*

³⁴ Ani ammoo isinitti hima, ijjumaa hin kakatina'a. Ol-gubbaan barcumaa mootummaa Waaqaa waan teeteef, ol-gubba'aan yookiin,

³⁵ lattille waan ijjata miila isaa teeteef lafaan hin kakatina'a; qachaa mootii gudda'aa waan teeteef Yerusaaemille'een hin kakatina'a.

³⁶ Rifeensa tokkocha adii yookiin gurraacha godhiisa waan hin dandeenneef, mataa keetille'een hin kakatin.

³⁷ Dubbiin teessan «*Ee*» yoo teete «*Ee*», yookiin «*Waawwoo*» yoo teete «*Waawwoo*» teetuu ti; wonni kana irra caale seexana irraa dhutte» jedhe.

Marroo Haluu Bayiisaa (*Luq. 6:29-30*)

³⁸ Yesuus itti dabalee, «*«Ilti, ilaaf; ilkaan, ilkaaniif» akka jedhame isin dhageettaneertan.*

³⁹ Ani ammoo isinitti hima: nama si yakke haluu hin bayin. Nami tokko yoo boqoo middaa si dhabanaase, taanille itti garagalchi;

⁴⁰ nami tokko shaamisii§ teeti fudhatiisaaf barbaadee yoo si himate, kootii teetille kenniif.

⁴¹ Nami tokko hunnaan kiiloo meetira tokko akka ati woliin deentu yoo si tolche, kiiloo meetira lama woliin deemi.

⁴² Nama si kadhatuuf kenni; nama si irraa liqeeffatiisaaf barbaadu hin dhooggatin» jedhe.

Diinota Jaalachuu (*Luq. 6:27-28,32-36*)

⁴³ Yesuus, «*«Ollaa keeti jaaladhu, diinota keeti jibbi» akka jedhame dhageettaneertan.*

⁴⁴ Ani ammoo isinitti hima: diinota keessan jaaladha'a; worra isin miidhuufille daadimadha'a.

⁴⁵ Tana yoo gootane ijoollee Abbaa keessan ka ol-gubba'aa hin teetan; inni aduu ifii worra hama'aa fi dansa'aafille hin baasa; worra balchootaa fi balchoota hin te'iniifille hin roobisiisa.

⁴⁶ Worra isin jaalatu callaa yoo jaalattane, gatii maan qaddan ree? Cubbaaleyyiinuu sanuma godhan!

⁴⁷ Obboleeyyan* teessan callaa nageya o'aa yoo fuutane, worra dhibii caalaa isin maan gootane? Worri Yihudoota hin te'inille sanuma godhan!

⁴⁸ Abbaan keessan ka ol-gubba'aa mijuu† akka te'e, isinille mijuu te'a'a» jedhe.

6

Arjummaa

¹ Yesuus, «Nami akka isin dhagguuf jettanee hujii dansaa isaan duratti akka hin hunye ifi eeggadha'a! Akkas yoo gootane, Abbaa keessan ka ol-gubbaa jiru biraa gatii hin qaddanu.

² «Hiyyeeyyi'if yennaa arjoontanu, akka worri kijibu kolbaan akka isaan galateeffattuuf, Mana Waaqonfannaa Yihudootaa keessaa fi karaa irratti godhanu, ifi mudhisiisaaf hin godhina'a. Ani dhugumaan isinitti hima, isaan gatii ifii dhaggataneeran.

³ Ati yennaa arjoontu ammoo, waan harki keeti middichi godhiisatti jiru harki keeti bitaachinuu hin beekin.

⁴ Maarre arjoom keeti dhossa'aan te'uu ti; Abbaan keeti ka waan ati dhossa'aan tolchitu dhaggu, gatii si'iif hin kenna.

Marroo Daadimatiisaa (Luq. 11:2-4)

⁵ «Isin yennaa daadimattanu, akka worra kijibuu hin te'ina'a! Isaan worri dhibiin akka isaan dhagguuf, Galma Waaqaa keessaa fi woldeennaa karaa gugurda'aatitti dhaabbatane daadimatiisa jaalatan. Ani dhugumaan isinitti hima, isaan gatii ifii dhaggataneeran.

⁶ Ati ammoo yennaa daadimattu, gara kolloo teetii seen, balbala cufadhuu, gara Abbaa keeti ka addee dhokatte jiruu daadimadhu. Abbaan keetille, ka waan ati dhossa'aan huju dhaggu, gatii teeti si'iif hin kenna.

⁷ «Yennaa daadimattanu akka worra Yihudoota hin te'inii, jecha bu'aa hin qanne itti hin deddeebi'ina'a; isaan heddummaa jechoota isaaniitiif, waaqi waan isaaniif dhage'u seyan.

⁸ Isin ammoo akka isaanii hin te'ina'a. Abbaan keessan waan isin barbaachisu isin adoo isa hin gaafatinuu hin beeka.

⁹ «Tanaaf, yennaa daadimattanu,
«Abbaa keenaa ka ol-gubbaa jirtu,

Maqaan keeti woyyoomu;

¹⁰ mootummaan teeti dhuttu;
fedhiin teeti akkuma ol-gubba'atti teete,
lafalle'etti teetu.

¹¹ Sagalee guyyuma guyya'aan nuu barbaachittu adha nuu kenni.

¹² Akkuma nuuti worra nu yakkuuf araarannu,
yakkaa teenna nuu araarami.

¹³ Hamaaleessa irraa nu eegi malee,
ataabe'etti nu hin galchin.
[Mootummaan, hunni, ulfinnille
baruma baraan keetuma. Ameen]» jedha'a.

* 5:47 Obboleeyyan: jaallan † 5:48 Mijuu: Ka dhidhuu hin qanne 6:1 Mat. 23:5

¹⁴ «Yoo isin yakkaa namootaaf araarantane, Abbaan keessan ka ol-gubbaa jiru isiniif hin araarama.

¹⁵ Yoo isin yakkaa namootaaf hin araaramin ammoo, Abbaan keessan ka ol-gubbaa jiru yakkaa teessan isiniif hin araaramu» jedhe.

Marroo Laamiisaa

¹⁶ Yesuus, «Yennaa laantanu, akka worri kijibu tolchu fuula keessan hin addeessina'a*. Laamuu isaanii namooti akka dhagganuuf isaan ifi addeessan. Ani dhugumaan isinitti hima, isaan gatii ifii fudhataneeran.

¹⁷ Ati ammoo yennaa laantu, fuula keeti dhiqadhu, mataa keetille iffadhu!

¹⁸ Tanaaf laamiisa keeti, Abbaa keeti ka addee dhokatte jiru qofatti beeka malee, worri dhibiin beekuu hin dande'u. Abbaan keetille, ka waan ati dhossa'aan hujju dhaggu, gatii teeti si'iif hin kenna» jedhe.

Karra Ol-gubba'aa

(Luq. 12:33-34)

¹⁹ Yesuus dabalee, «Addee qooqqanna'aa† fi ciillayiisi balleessutti, hattuulle cassitee seentee hattutti, as lafa tana irratti karra teessan hin kuufatina'a.

²⁰ Ammoo addee qooqqanna'aa fi ciillayiisi dande'ee hin balleessine, hattuulle cassitee seentee hatuu hin dandeenne, ol-gubba'atti karra teessan kuufadha'a.

²¹ Yennaa mara addee karri teessan jirtu gadhaan keessanille jira» jedhe.

Ifa Nafaa

(Luq. 11:34-36)

²² Yesuus, «Ilti ifa nafaa ti; ilti teeti fayyaa yoo teete, nafi keeti duudiin ifaaleessa hin te'a;

²³ ilti teeti fayyaa yoo dhadde ammoo, nafi keeti duudiin dukkana te'a; ifi sitti jiru dukkana yoo te'e, dukkanti attam attam guddattu ree!» jedhe.

Waaqaa Fi Qabeenna Namaa

(Luq. 16:13; 12:22-31)

²⁴ Yesuus itti dabalee, «Nami tokko garbicha goottolee lamaa te'iisaaf hin dande'u; tokkocha hin jibba, kaan hin jaalata; yookiin tokkocha ulfeessee kaan tuffata. Akkasuma Waaqaa fi beese'eef tajaajiluu hin dande'u» jedhe.

²⁵ «Tanaaf ani isinitti hima, jiruu teessaniif maan nyaanna, yookiin maan unna, yookiin marroo nafa keessanii, maan uffanna jettanee hin yaadina'a. Jiruun sagalee, nafi woyaa hin caaluu?

²⁶ Sinbirroota ilaala'a; isaan midhaan hin facaasanu yookiin haamaneen gootara'atti hin galchanu; Abbaan keessan ka ol-gubbaa jiru isaan nyaachisa. Isin guddoo sinbirroota hin caaltanuu ree?

²⁷ Isin keessaa nami yaadiisaan, bara jiruu ifi irratti guyyuma tokkolle‡ ka dande'ee dabalatu jiraa?

²⁸ «Marroo woyaa'aa maaf yaaddan ree? Daraaroti attam akka guddatanu ilaala'a; isaan hin hujatanu yookiin woyaa ifiif hin dhowatanu.

²⁹ Te'uu malee, Solomooniin mootichinuu ulfinna ifi maraan daraarota san keessaa akka tokkochaa woyaa akka hin uffatin isinitti hima.

³⁰ Waaqi marra adha mudhatee, boru ibiddatti gatamu yoo akkas uffise, isin fa'a attam caalchisee uffisuu dhaba ree? Isin worra dhugeeffannaa diqqo'oo!

6:15 Mat. 11:25-26 * **6:16** Hin addeessina'a: Hin shankalleessina'a, hin daalacheessina'a † **6:19** Qooqqanna'aa: Bili'ii **6:19** Yaq. 5:2-3 ‡ **6:27** Guyyuma tokkolle: Saatuma tokkolle

³¹ «Maarre, «Maan nyaanna?» yookiin «Maan unna?» yookiin «Maan uffanna?» jedhaa hin yaaddayina'a;

³² worri Yihudoota hin te'in yennaa mara yaada waan kanaatiin qabamaneeran. Tun marti akka isinii barbaachittu Abbaan keessan ka ol-gubba'aa hin beeka.

³³ Dursa'aatii mootummaa Waaqaatii fi balchummaa isaa barbaada'a; tun martinuu isiniif hin kennanti.

³⁴ Maarre marroo boruutiif hin yaadayina'a; guyyaan boruu ifiifuu yaad-doo isa gewu qaba. Rakkinni adhaa adhaaf hin geya» jedhe.

7

Namatti Muriisa (Luq. 6:37-38,41-42)

¹ Yesuus, «Waaqi akka isinitti hin murre, isin namatti hin murina'a.

² Muruma isin namatti murtanuun Waaqille isinitti mura; safaraa isin ittiin namaaf safartanutti isinille'eef safarama.

³ «Huura ila obboleessa keetii keessa jiru maaf ilaalta! Jigeessa ila teeti keessaa maaf hin hubanne?

⁴ Jigeessi ila teeti keessa adoo jiruu, obboleessa keetiin, «Huura ila teeti keessaa sii fuudha» attam jedhuu dandeetta?

⁵ Ati nama kijiba'a! Dursiitii jigeessa ila teeti keessa jiru fudhadhu; achiin duuba huura ila obboleessa keetii keessa jiru fuudhiisaaf miidhassitee dhagguu hin dandeetta.

⁶ «Waan Waaqaaf male sarootaaf hin kennina'a; isinitti garagalanee isin ciniinan. Dooqa keessan ka gatii guddoo qabulle booyyota dura hin busina'a; isaan miilaan irra sirban» jedhe.

Gaafadha'a, Barbaada'a, Dhodhowa'a (Luq. 11:9-13)

⁷ Yesuus itti dabalee, «Gaafadha'a, isiniif hin kennanti; barbaada'a, hin dhaggattanille'e; balbala dhodhowa'a isiniif hin bananti.

⁸ Ka gaafatu hin fudhata, ka barbaadulle hin dhaggata, ka balbala dhodhowuufille hin bananti.

⁹ Isin keessa ilmi isaa daabboo yoo gaafate, ka dhakaa kennuuf eennu?

¹⁰ Yookiin qurxummii yoo gaafate, dhudhuufaa hin kennaafii?

¹¹ Isin adoo worra hamaa teetanuu, ijoollee teessaniif waan dansaa kennuu eega beettanee, Abbaan keessan ka ol-gubbaa jiru, attam caalchisee, worra isa gaafatuuf waan dansaa kennuu dhaba ree!

¹² «Waan namooti akka isiniif godhanuuf barbaaddanu isinille akkasuma isaaniif godha'a: Seerri Muuse'eetii fi raagoti kanuma barsiisan.

Karra Dhiphoo (Luq. 13:24)

¹³ «Karra dhipho'oon seena'a! Karaan gara badi'ii geessu badha'a; karrille badhoo waan teeteef, worri karra san seenu heddu'u.

¹⁴ Karaan gara jiru'uu geessu ammoo qadha'aa; karrille dhiphoo waan teeteef, worri karaa jiru'uu san dhaggatu diqqa'a» jedhe.

Mukaa Fi Midhaan Isaa (Luq. 6:43-44)

¹⁵ Yesuus itti dabalee, «Raagota dharaa irraa ifi eeggadha'a; isaan gubbaa irra hoolota fakkaatanee, gara keessan dhufan; keessi isaanii ammoo yayyii isin butattu.

¹⁶ Midhaan* isaaniitiin isaan beettan. Midhaan woyni'ii kom'olcha irraa, midhaan harru'uu waaccuu irraa hin guuranu.

¹⁷ Akkasuma, muki dansaan midhaan dansaa, muki hamaan midhaan hamaa buusa.

¹⁸ Muki dansaan midhaan hamaa buusuu hin dande'u; yookiin muki hamaalle midhaan dansaa buusuu hin dande'u.

¹⁹ Muki midhaan dansaa hin buunne martinuu muramee ibiddatti gatama.

²⁰ Tanaaf midhaan isaaniitiin raagota dharaa beettan» jedhe.

Ani Ijjumaa Isin Hin Beeku

(Luq. 13:25-27)

²¹ Yesuus, «Fedhii Abbaa kiyya ka ol-gubbaa jiruu ka hujutti mootummaa ol-gubba'aatitti gala malee, ka, «Gootta'a, Gootta'a» jedhee na waamu marti hin galu.

²² Guyyaa mura'aa san, namooti hedduun, «Gootta'a, Gootta'a! Maqaa keetiin raaga hin dubbannee? Maqaa keetiin durriisota hin baannee? Maqaa keetiin baasota hedduu hin hunyee?» anaan hin jedhan.

²³ Ani ammoo, «Ijjumaa isin hin beeku. Isin worra dabaaleyyi'i; ila tiyya duraa deema'a!» jedhee ifatti isaanitti hima» jedhe.

Jara Lamaan Mana Ijaartu

(Luq. 6:47-49)

²⁴ Yesuus, «Nami jecha kiyya dhage'ee hujii irra oolchu namicha qaroo mana ifii rassaa irratti ijaarrate tokko fakkaata.

²⁵ Bokkeenni roobee, lolaan lola'ee, bubbeen bubbittee mana san dhiidde. Manni sun ammoo rassaa irratti waan ijaarameeruuf hin jinne.

²⁶ «Nami jecha kiyya dhage'ee hujii irra hin oolchine namicha gowwaa mana ifii maansa irratti ijaarrate tokko fakkaata.

²⁷ Bokkeenni roobee, lolaan lola'ee, bubbeen bubbittee mana san dhiidde. Manni sunille jigee akka malee butute» jedhe.

Baallii Yesuusii

²⁸ Yesuus yennaa dubbii tana dubbatee fixe, gumiin barsiisa isaatitti baaseffatte.

²⁹ Inni akka barsiisota isaanii ta Seera Muuse'ee adoo hin te'in, akka nama baallii qabuu tokko isaan barsiise.

8

Yesuus Namicha Tokko Fayyise

(Mar. 1:40-45; Luq. 5:12-16)

¹ Yesuus yennaa gaara irraa gad bu'e, gumiin hedduun isa hordotte.

² Namichi dhukkuba goga'aa farrisiisa'aan qabameeru tokkolle gara isaa dhufee, isa duratti jilbiiffatee, «Gootta'a, yoo fedha keeti te'e na fayyisuu dandeetta» jedhe.

³ Yesuus harka ifii diriirsee isa qabee, «Hin fedha, fayyi!» jedheen; yenuma san namichi dhukkuba ifii irraa fayye.

⁴ Achiin duuba Yesuus, «Beekkadhu! Waan kana nama tokkolle'etti hin himin; ammoo dhaqiitii, hayyichatti ifi mudhisi; fayyuun keeti nama maraaf akka dhugaa baya te'u, fayyuu keetiif qodha Muuseen ajaje dhikeessi!» isaan jedhe.

* **7:16** Midhaan: Waan isaan hujanuun 1:22; Luq. 4:32

7:19 Mat. 3:10; Luq. 3:9

7:20 Mat. 12:33

7:29 Mar.

Yesuus Tajaajilaa Ajajaa Dhibbaa Fayyise
(Luq. 7:1-10)

⁵ Yesuus yennaa qachaa Qifirnaahoomii seene, ajajaan dhibba tokko dhufee isa kadhatee,

⁶ «Gootta'a, tajaajilaan kiyya nafa laashowee, dhibamee mana ciisee, rakkataa farriisatti jira» jedhe.

⁷ Yesuus, «Ani dhufee isa hin fayyisa» jedhe.

⁸ Ajajaan dhibbaa ammoo, «Gootta'a, ati mana kiyya seeniisaaf ani nama malee moti; afaanuma calla'aan ajaji, mucaan kiyya hin fayya.

⁹ Aninuu worra baalli qabu jala jira, loltoota ifiin jalatti ajajulle qaba. Isaan keessaa tokkochaan, «Deemi!» yoo jedheen, innille hin deema; kaanille'een, «Koy!» yoo jedheen, innille hin dhufa; tajaajilaa kiyyaan, «Kana huji!» yoo jedheen, innille hin huja» jedhe.

¹⁰ Yesuus yennaa tana dhage'e, baaseffatee worra isa hordofuun, «Ani isinitti hima, Israa'el keessatti dhugeeffannaa guddoo akkasii nama qabu tokkochalle hin dhaggine.

¹¹ Ani isinitti hima, biyya lafa duudii irraa karaa aduun baatuu fi seentuu dhufanee, mootummaa Waaqaa keessatti Abrahaam, Yaaqoobii fi Yisihag waliin hin nyaatan;

¹² worri mootummaa Waaqaa keessa te'uu male ammoo addee itti bowanuu fi ilkaan itti qaranu gara alaa dukkanatti hin gataman» jedhe.

¹³ Achiin duuba Yesuus ajajaa dhibbaatiin, «Deemi; akkuma dhugeeffanna teetii si'iif teetuu» jedhe.

Tajaajilaan ajajaa dhibbaalle saatuma san fayye.

Yesuus Kolbaa Hedduu Fayyise
(Mar. 1:29-34; Luq. 4:38-41)

¹⁴ Yesuus yennaa mana Pheexroosii dhage, haati sodda'aa ta Pheexroosii dhukkuba nafa o'isuun dhibantee taqee irra irkatiisatti jirtuun dhagge.

¹⁵ Inni harka isi'ii qabee, o'i nafaa isii lakkinnaan, isiille ol kaatee isaaf areerte.

¹⁶ Aduun seenteen duuba, worra durriisotaan qabamane hedduu gara Yesuusii fidane. Innille jecha ifitiin durriisota baasee, worra dhibame maralle fayyise.

¹⁷ Wonni Isaayaasiin raagichi,
«Inni dhibee teenna fudhate,
dhukkuba keennalle ba'ate» jedhe akka muummottuuf inni tana godhe.

Worra Yesuus Hordofiisaaf Barbaade
(Luq. 9:57-62)

¹⁸ Yesuus adaala ifititti gumii hedduu yennaa dhagge, gara abbaaya'aan gamaa akka bu'anu barattoota ifii ajaje.

¹⁹ Barsiisaan Seera Muuse'ee tokko gara isaa dhufee, «Barsiisa'a! Addee ati dhaxxu mara si hordofa» jedheen.

²⁰ Yesuus deebisee, «Jeedalti boolla qaddi; sinbirreelle mana qaddi; Ilmi namaa ammoo addee mataa ifii itti irkifatu hin qabu» jedheen.

²¹ Barattoota isaa keessaa ka dhibiin, Yesuusiin, «Gootta'a, dursee dhaqee abbaa kiyya akka awwaaladhu naa eeyyam» jedheen.

²² Yesuus ammoo, «Ati na hordofi! Du'aan du'aa ifii awwaalatuu ti» isaan jedhe.

Yesuus Bubbee Cadhisiise
(Mar. 4:35-41; Luq. 8:22-25)

²³ Yennaa Yesuus hoboloo takka yaabe, barattooti isaalle isa woliin deeman.

²⁴ Dedhuma bubbeen hantuun abbaayaa gubbaa kaatee, hoboloolle danbali'iin lixiisa geette; Yesuus ammoo rafeeraayyu.

²⁵ Barattooti gara Yesuusii dhaqanee dammassanee, «Gootta'a, nu fayyisi! Dhumataarraa!» jedhaneen.

²⁶ Yesuus deebisee, «Isin worra dhugeeffannaa diqqo'oo, maaf sodaattan?» jedheen. Achiin duuba inni ol ka'ee bubbe'ee fi danbali ajajee, achitti cadheessi guddaan te'e.

²⁷ Isaan baaseffatane, «Kun nama attamii ti? Bubbe'ee fi danbaliille hin ajajamaniif!» jedhane.

Yesuus Worra Durriisaan Qabame Fayyise
(Mar. 5:1-20; Luq. 8:26-39)

²⁸ Yesuus abbaaya'aan gamatti bu'ee biyya Gadara'aa* yennaa dhufe, namooti durriisi keessa jiru lamaan goda awwaalaatii gad itti dhufane; namooti kun haga nami karaa san dabariisa dadhabutti akka malee sodaachisane.

²⁹ Isaan dedhuma, «Yesuus, Ilma Waaqaa, maan nu irraa qadda? Yennaan adoo hin geyin nu farrisiisiisa dhuttee?» jedhaa iyyane.

³⁰ Diqquma isaan irraa fago'otti booyyoti hedduun bobbaatee dheediisatti jirtiyyu.

³¹ Maarre durriisoti, «Ati yoo gad nu baache, booyyota sanitti nu ergi» jedhanees Yesuus kadhatane.

³² Yesuus, «Dhaqa'a!» isaaniin jennaan, jara keessaa bayanee booyyotatti galane. Booyyoti sun martinuu roga qile'ee irraa gad gara abbaaya'aa oriitee liqinfante.

³³ Worri booyyota tissanu baqatane qachaa seenanee, waan te'e maraa fi waan namoota durriisi qabeeru irratti te'e achitti odeessane.

³⁴ Achiin duuba namooti qachaa keessaa marti Yesuus dhaggiisaaf gad bayane; isaan yennaa isa dhaggane, biyya isaanii lakkisee akka deemuu isa kadhatane.

9

Yesuus Namicha Nafa Laashowe Fayyise
(Mar. 2:1-12; Luq. 5:17-26)

¹ Yesuus hoboloo yaabee abbaaya'aan gamatti bu'ee gara qachaa ifii* dhufe.

² Jarri tokko achitti namicha nafi isaa laashowee itillee irra irkateeru tokko gara isaa fidde. Yesuus yennaa dhugeeffannaa isaanii dhagge, namicha nafa laashoween, «Ilma kiyya, jabaadhu! Cubbuu teetiif araarri kennameera» jedhe.

³ Achiin duuba barsiisoti Seera Muuse'ee gariin, «Namichi kun Waaqa faanshessiisatti jira» jedhanees gadhaa ifii keessatti yaadatane.

⁴ Yesuus yaada isaanii beekke, «Isin maaf waan hantuu akkasii gadhaa keessan keessatti yaadattan?

⁵ «Cubbuu teetiif araarri kennameera» jechu'u moo yookiin, «Ol ka'ii deem» jechuu irra kamittuu kaso'o?

* **8:28** Biyya Gadara'aa: Barreeffam durii durii gariin «Gergeesa'aa», kuun «Geraasa'aa» jedha * **9:1** Qachaa ifii: Qifirnaahoom (4:13 ilaali)

⁶ Ammoo Ilmi namaa cubbuu araaramiisaaf lafa irratti baallii akka qabu akka beettanu» jedhee, namicha laashoweeruun, «Ol ka'i! Itillee teeti fudhadhuutii gara mana keetii deem!» jedhe.

⁷ Namichille ol ka'ee gara mana ifii deeme.

⁸ Kolbaan yennaa tana dhaggite baaseffattee, Waaqa baallii akkasii kolba'aaf kenne galateeffatte.

*Yesuus Maatewoos Waame
(Mar. 2:13-17; Luq. 5:27-32)*

⁹ Yesuus karaa san dabaruun, namicha qaraxa guuru tokko, ka Maatewoos jedhamu, addee gosee qaraxaa tee'eeruun dhaggee, «Na hordofi» jedheen.

Innille ol ka'ee isa hordofe.

¹⁰ Yesuus mana Maatewoosiititti nyaata irra jiruun, worri qaraxa guuruu fi cubbaaleyyiin hedduun isaa fi barattoota isaa woliin nyaatiisaaf tee'ane.

¹¹ Fariisaayoti gariin kana dhagganee, barattoota isaatiin, «Barsiisaan keessan worra qaraxa guuruu fi cubbaaleyyii woliin maaf nyaata?» jedhane.

¹² Yesuus yennaa kana dhage'e, «Worra dhibameef malee, worra fayyaaleyyi'iif cidheessa hin barbaachisu.

¹³ Dhaqa'aatii Barreeffama, «Ani marartii barbaada malee ciinca'aa moti» jedhu hiikkaan maan akka te'e qorqora'aatii hubadha'a. Ani cubbaaleyyii waamiisaaf dhufe malee, balchoota waamiisaaf moti» jedhe.

*Gaaffii Marroo Laamiisaa
(Mar. 2:18-22; Luq. 5:33-39)*

¹⁴ Achiin duuba barattooti Yohaannisii cuupha'aa gara Yesuusii dhufanee, «Nuutii fi Fariisaayoti yennaa mara maaf laamaa, barattooti teeti ammoo ijjumaa maaf laamuu dhaban?» jedhane gaafatane.

¹⁵ Yesuus deebisee, «Waajibichi isaan woliin adoo jiruu jaaloti hin gaddanii? Waawwo'o! Guyyaan waajibichi isaan biraa fudhatamu hin dhufa; achiin duuba isaan hin laaman.

¹⁶ «Eennulle woyaa haareya woyaa dullatti'itti hin erbu; sababille woyaan haaretti shuntuurachiittee qowa duriituu ka caalu gooti.

¹⁷ Akkasuma daadhii woyni'ii ta hin bayiin qalqalluu dulloometti eennulle hin naqu; sababille qalqalluun hin dho'a, daadhiin hin jiddi, qalqalluulle hin bada; daadhiin hin bayin qalqalluu haareyatti naqamuu malte; daadhiille, qalqalluulle hin badanu» isaaniin jedhe.

*Intala Yaayiroosiitii Fi Dubartii Woyaa Yesuusii Tuxxe
(Mar. 5:21-43; Luq. 8:40-56)*

¹⁸ Yesuus adoo tana isaanitti dubbatiisatti jiruu, bulchaan Mana Waaqon-fannaa Yihudootaa gara isaa dhufee, isa duratti jilbiiffatee, «Intalti tiyya ammuma na duraa duute; ati ammoo koyiitii harka keeti isii irra keyi; isiille deebitee hin jiraatti» jedhe.

¹⁹ Yesuus ka'ee barattoota ifii woliin isa faana dhage.

²⁰ Dubartiin woggaa kudhanii lamaaf dhiigi isi'ii dhaabbatuu didee rakkataa turte takka isa duubaan dhuttee handaara woyaa Yesuusii tuxxe.

²¹ Isiin gadhaa ifiititti, «Yoo woyaa isaa callaa tuqe, ani hin fayya» jettee yaadatte.

²² Yesuus garagalee isii dhaggee, «Intala tiyya, jabaadhu! Dhugeeffannaan teeti si fayyitteerti» jedheen; dubartittiille yoosuma fayyite.

²³ Achiin Yesuus gara mana bulchaa Mana Waaqonfannaa Yihudootaa yennaa dhage, worra suusullee[†] gaddaa afuufuu fi gumii caakkittee boottu dhaggee,

²⁴ «Asii gad baya'a! Intalti rafisatti jirti malee hin duune» jedhe. Isaan ammoo itti kollane.

²⁵ Gumiin gad baateen duuba, Yesuus gara addee intalti jirtuu seenee harka isi'ii qabe; intaltille ol kaate.

²⁶ Oduun marroo waan kanaa adaala san mara geette.

Yesuus Namoota Ballaa Lama Fayyise

²⁷ Yesuus achii ka'ee adoo dabariisatti jiruu, namooti ballaan lamaan isa hordofanee, «Ilma Daawitii, nu marari!» jedhaa iyyane.

²⁸ Inni yennaa mana seene, namooti ballooti sun gara isaa dhikaatane; Yesuusille, «Akka ani kana godhuu dande'u hin dhugeeffattanii?» jedhee isaan gaafate.

Isaanille, «Ee, Goota'a!» jedhaneen.

²⁹ Achiin duuba Yesuus ila isaanii qaqqabee, «Akkuma dhugeeffannaa teessanii isinii teetuu ti!» jedhe;

³⁰ ilti isaaniille banante. Achiin duuba Yesuus, «Beekkadha'a, waan kana nama tokkoll'eetti hin himina'a» jedhee jabeessee isaan ajaje.

³¹ Isaan ammoo achii bayanee oduu marroo Yesuusii adaala lafa sanii maraan geyane.

Yesuus Namicha Afaan Duuda'aa Fayyise

³² Namooti ilti babbananteef akkuma achii bayaneen, jarri takka namicha afaan duudeeru ka durriisi qabeeru tokko gara Yesuusii fadane.

³³ Durriisi yennaa keessaa baafame, namichi afaan duudee ture dubbate; kolbaalle baaseffattee, «Waan akkasii kana Israa'el keessatti nuuti ijjumaa dhagginee hin beennu!» jette.

³⁴ Fariisaayoti ammoo, «Inni hunna mooticha durriisotaatiin durriisota baasa» jedhane.

Yesuus Kolba'aaf Naye

³⁵ Yesuus Mana Waaqonfannaa Yihudootaa keessatti barsiisaa, Oduu Gam-madaa ta mootummaa Waaqaa lallabaa, kolbaa dhukkubaa fi dhibee mara irraa fayyisaa qachootaa fi olloota mara keessa deddeeme.

³⁶ Inni akka hoolota tissee hin qannee kolbaa rakkattee fi qarqaarsa hin qanne yennaa dhagge nayeef.

³⁷ Yennaa san inni barattoota ifitiin, «Midhaan haamamu gudda'a; worri haamu ammoo diqqa'a.

³⁸ Tanaaf abbaan midhaanii worra miidaan haamu gara midhaan haamu akka ergu daadimadha'a» jedhe.

10

Yesuus Ergantoota Kudhanii Lama Filate

(Mar. 3:13-19; Luq. 6:12-16)

¹ Yesuus barattoota ifi kudhanii lamaan gara ifi waamee ayyaanota hamoota akka baasanu, dhukkubaa fi dhibee mara akka fayyisanu baallii isaaniif kenne.

² Maqaan ergantoota kudhanii lamaanii asii gad jira: ka matoomaa, Simoon ka «Pheexroos» jedhamee fi obboleessa isaa Indiryaas; ilmaan Zab-dewoosii, Yaaqoobii fi obboleessa isaa Yohaannis;

[†] 9:23 Suusullee: Ulullee 9:34 Mat. 10:25; 12:34; Mar. 3:22; Luq. 11:15 9:38 Luq. 10:2

³ Filiphooos, Bartolomewoos, Toomaas, Maatewoosii qaraxa guuru, Yaaqoobii ilma Alfewoosii, Taadewoos;

⁴ Simoonii hinaatticha, Yihudaa nama biyya keriyootii, ka dabarsee Yesuus kenne.

Hujii Ergantoota Kudhanii Lamaa

(*Mar. 6:7-13; Luq. 9:1-6*)

⁵ Yesuus worra kudhanii lamaan kana erge; qajeelfama asii gad jirulle itti kennee, «Gara worra Yihudoota hin te'inii hin dhaqina'a, yookiin qachoota Samaariyya'aa hin seenina'a.

⁶ Addee akkasii, Worra akka hoolotaa bade gara kolbaa Israa'elii dhaqa'a.

⁷ Akkuma dhaxxaneen, «Mootummaan Waaqaa dhikaatteerti» jedhaa lal-laba'a.

⁸ Dhibamaa fayyisa'a, du'aa kaasa'a, worra dhukkuba goga'aa farrisi-isa'aan qabameeru fayyisa'a, durriisota baasa'a. Gatii malee fudhattaneertan, gatii malee kenna'a.

⁹ Marxoo* keessatti worqii, meetii yookiin sibiila diimaa hin qabatina'a.

¹⁰ Ideemiisa kara'aatiif korojoo, qoloo lama, yookiin kophee lama, ulee lama hin qabatina'a. Hojjattootaaf wonni isaan barbaachisu kennamuufii malte.

¹¹ Isin gara qachaa yookiin ollaa tokkoo yennaa seentane, nama isin fudhatiisaa te'u tokko barbaada'a, haga addee san lakkittanutti isa bira tura'a.

¹² Yennaa mana tokko seentanu, «Nageenni isinii te'u» jedha'a.

¹³ Worri mana sanii yoo isin fudhate, nageenni keessan isaanii te'u; yoo isaan isin hin fudhatin ammoo, nageenni keessan isinii deebi'u.

¹⁴ Eennulle yoo isin fudhatuu dhabe yookiin dubbii teessan dhage'uu dhabe, mana san yookiin qachaa san lakkittanee yennaa baatanu bukuu miila keessanii dhodhowadha'a.

¹⁵ Ani dhugaa isinitti hima, guyyaa mura'aa worra qachaa sanii irra worra Sodoomii fi Gomora'aatiif irra kasoo hin teeti» jedhe.

Miidhaa Dhufu

(*Mar. 13:9-13; Luq. 21:12-17*)

¹⁶ Yesuus itti dabalee, «Ani akka hoolotaa odduu yayyi'ii isin erga; maarre akka bofaa qaroolee, akka saphaliisaa gadhi-laafeyyii te'a'a.

¹⁷ Namoota irraa ifi eeggadha'a; isaan gara kora mura'aa dabarsanee isin hin kennan, mana itti wolitti qabamanu keessatti isin hin dhaanan.

¹⁸ Sababa kiyyaaf akka isinitti muranu gara bulchitootaa fi moototaa waan geeffantanuuf, isaanii fi worra Yihudoota hin te'in duratti dhugaa baatota tiyya hin teetan.

¹⁹ Yennaa isaan dabarsanee isin kennanu ammoo, maan akka jettanu yookiin attam akka dubbattanu hin yaadina'a; yennuma san wonni dubbat-tanu isiniif hin kennanti.

²⁰ Ayyaana Abbaa keessan ka ol-gubba'aatitti isin keessa jiraatee dubbata malee, isinii moti.

²¹ «Obboleessi obboleessa ifii, abbaalle ilma ifii du'atti dabarsee hin kenna; ijoolleelle worra ifii irratti hin kaati; hin ijjeesisiittille'e.

²² Sababa kiyyaaf nami marti isin jibba. Nami haga muumme'eetitti ossu ammoo hin fayya.

10:7 Luq. 10:4-12 * **10:9** Marxoo: Hiituu hidhaa **10:10** 1 Qor. 9:14; 1 Xim. 5:18 **10:14** HuE. 13:51 **10:15** Mat. 11:24; Dad. 19:24-28 **10:20** Mar. 13:12; Luq. 21:16 **10:22** Mat. 24:9; 13; Mar. 13:13; Luq. 21:17

²³ Yennaa isaan qachaa tokko keessatti isin miidhane, gara ka dhibi'ii baqadha'a. Ani dhugumaan isinitti hima, Ilmi Namaa adoo hin dhufiniin dura qachoota Israa'elii mara keessa deentanee hin fixxanu.

²⁴ «Barataan barsiisaa ifii hin caalu, hojjataan hojjachiisaa ifii hin caalu.

²⁵ Barataan akka barsiisaa ifii te'uun, hojjataan akka hojjachiisaa ifii te'uun hin geya. Isaan yoo abbaa manaa, «Bi'el Zebul†» jedhanee waamane worra mana isaa maqaa irra caalaa badaa attamiitiin waamu'uu jiran ree!

²⁶ Maarre nama hin sodaatina'a. Wonni gollame mudhatuu hin ooltu; wonni dhoffame beekkamu hin ooltu.

²⁷ Waan ani dukkana keessatti isinitti himu, isin ifa guyya'aatiin dubbadha'a. Waan hasaasa'aan dhageettane guutuu manaa irraa lallaba'a.

²⁸ Worra foon namaa ijjeesu, ammoo ka lubbuu ijjeesuu hin dandeenne hin sodaatina'a; irraa caalaa, qilee keessatti lamaanuu foonii fi lubbuulle ka balleessuu dande'u Waaqa sodaadha'a.

²⁹ Sinbirrooti didiqqoon lamaan saantimii tokkotti hin gurguramanii motii? Fedhii Abbaa keessan ka ol-gubbaa jiruutiin malee sinbirroota san keessaa takkaalle lafa hin buutu.

³⁰ Isin rifeensi mataa keessaniituu marti laakkowameera.

³¹ Maarre hin sodaatina'a; isin sinbirroota didiqqoo hedduu caalaa gatii qaddan» jedhe.

Marroo Kiristoosii Dhugaa Bayiisa

(Luq. 12:8-9)

³² Yesuus itti dabalee, «Nama duratti ka dhugaa naa bayu duudi'iif, anille Abbaa kiyya ka ol-gubba'aa duratti dhugaa isaaf baya.

³³ Ka nama duratti na mormatu duudii ammoo, anille Abbaa kiyya ka ol-gubba'aa duratti isa hin mormadha» jedhe.

Namooti Sababa Yesuusiitiif Gargar Bayane

(Luq. 12:51-53; 14:26-27)

³⁴ Yesuus itti dabalee, «Ani gara biyya lafaa nageya fidiisaaf waan dhufe isinitti hin fakkaatin. Ani shallaagaa malee, nageya fidiisaaf hin dhunne.

³⁵ Ani ilma abba'aan, intala haadha ifitiin, niitii ilmaa haadha dhirsaa isi'iitiin‡ gargar baasiisaaf dhufeera.

³⁶ Diinoti keessan maatuma teessan keessaa hin te'a.

³⁷ «Nami abbaa ifii yookiin haadha ifii na caalaa jaalatu naaf ka malee moti; nami ilma ifii yookiin intala ifii na caalaa jaalatu naaf ka malee moti.

³⁸ Nami fannoo ifii ba'atee na hin hordonne naaf ka malee moti.

³⁹ Nami jiruu ifii fayyifatu barbaadu hin dhaba, nami naaf jedhee jiruu ifii dhabu hin fayyifata.

Gatii Namooti Dhaggatanu

(Mar. 9:41)

⁴⁰ «Ka isin fudhatu na fudhata; ka ana fudhatu ka ana erge fudhata.

⁴¹ Ka raagaa tokko waan inni raagaa te'eef fudhatu, gatii raagichaa hin dhaggata. Ka nama balchaa waan inni nama balchaa te'eef fudhatu, gatii balcha'aa hin dhaggata.

⁴² Dhugaa isiniin jedha, eennulle worra didiqqaa na hordofu kana keessaa tokkoof, waan inni barataa kiyya te'eef, bisaan unto'oo qabbanawaa xu-uxxoo tokkolle yoo kenne, gatii hin fudhata» jedhe.

10:24 Luq. 6:40; Yoh. 13:16; 15:20 † **10:25** Bi'el Zebul: Mooticha ayyaanota hamootaa **10:25** Mat. 9:34; 12:24; Mar. 3:2; Luq. 11:15 **10:33** 2 Xim. 2:12 ‡ **10:35** Haadha dhirsaa isi'iitiin: Haadha sodda'aatiin **10:40** Mar. 9:37; Luq. 9:48; 10:16; Yoh. 13:20

11

Worra Yohaannisiin Cuuphaan Erge

(Luq. 7:18-35)

¹ Yesuus barattoota ifii kudhanii lamaan ajaja itti kennee hobbaaseen duuba, addee san lakkisee qachaa adaala sanii keessa lallabiisaa fi barsiisiisaaf dhage.

² Yohaannisiin cuuphaan adoo mana hidha'aa keessa jiruu, waan Kiristoos hujiisatti jiru dhage'ee, barattoota ifii keessaa garii ergee,

³ «Ka hin dhufa jedhame sun si'iyyu moo ka dhibii eeganna?» jedheen.

⁴ Yesuus deebisee, «Deebi'a'atii waan dhageettanee fi waan dhaggitane Yohaannisitti hima'a:

⁵ Ballaan hin dhagga, naafi hin ideema, ka dhukkuba goga'aa farrisiisa'aa qabameeru hin fayya, duudaan hin dhage'a, du'aan hin ka'a, Oduun Gam-madaalle hiyyeeyyi'iif hin lallabanti.

⁶ Nami marroo tiyya mama hin qabaanne attam attam gammada» jedheen.

⁷ Barattooti Yohaannisii akkuma ideemaneen, Yesuus marroo Yohaannisii kolba'atti akkana dubbatee, «Goomolee keessatti yennaa gara Yohaannisii dhaxxane, isin maan ilaaliisaaf baatane? Shonbooqqoo* qilleensi daassuu?

⁸ Maan ilaaliisaaf baatane? Nama uffana dansaa uffatee? Worri uffana dadansaa uffatu mana moototaa keessa jiran!

⁹ Maan ilaaliisaaf baatane ree? Raagaa tokko ilaaliisaafii? Ee, ani isinitti hima, isin ammoo ka guddoo raagaa caalu dhaggitane.

¹⁰ Inniin kun, ka Barreeffam Woyyichi, «Karaa keeti akka si'iin duratti qopheessu,

ani ergamaa kiyya si'iin dura erga» jedhee dubbateeru.

¹¹ «Ani dhugaa isinitti hima, nama lafa irratti dhalate keessaa, ka Yohaannisii cuuphaa caaleeru eennulle hin jiru; Mootummaa ol-gubba'aa keessatti ammoo, ka mara caalaa diqqaatu isa hin caala.

¹² Bara Yohaannisiin cuuphaan barsiisuu jalqabe irraa ka'ee haga ammaa mootummaan ol-gubba'aa hunnaan dhiibatiisatti jirti; worri itti galiisaaf dhiibatu hin fudhatan.

¹³ Raagoti duudi'ii fi seerri Muuse'ee haga bara Yohaannisii cuupha'aatitti raaganeeran.

¹⁴ Yoo dubbii isaanii fudhatiisa feetane, Yohaannisiin kun, Eliyaasii hin dhufa jedhame san.

¹⁵ Nami gurra qabu dhage'uuti.

¹⁶ «Dhaloota kana maaniin wol fakkeessina? Isaan akka ijoollee lafa dikko'oo keessa teteettee woliin,

¹⁷ «Suusullee† isinii afuunne, isin hin sirbine; faaruu awwaalaa isinii faarsine, isin hin gaddine» jedhanu fakkaattan.

¹⁸ Yohaannis adoo sagalee hin nyaatinii fi daadhii woyni'ii hin unin yennaa dhufe, «Inni durriisa qaba» jedhane.

¹⁹ Ilmi Namaa nyaataa unaa yennaa dhufe, isaan «Ilaa, gadhito'oo fi machowaa, lansa worra qaraxa guuruutii fi cubbaaleyyi'ii ti» jedhaneen. Te'uu malee, qarummaan Waaqaa, hujii ifitiin mirkanootteerti» jedhe.

Qachoota Hin Dhugeeffanne

(Luq. 10:13-15)

* **11:7** *Shonbooqqoo*: Yookiin gaaguroo, obbaa
Suusullee: Ulullee

11:14 Mat. 17:10-13; Mar. 9:11-13 † **11:17**

²⁰ Achiin duuba Yesuus worra qachoota bilbaasota ifii inni irra caalaa keessatti huje keessa le'anuu, waan isaan cubbuu irraa deebi'uu didaneef komate.

²¹ «Anne'e si'iif, Koraaziin! Anne'e si'iif, Betsayida'a! Bilbaasoti isin keessatti tolfame, adoo Xiirrosii fi Sidoon keessatti godhamee jiraatee, silaa kolbaan achii yoosuu uffana gaddaa uffattee, daadhaa ifi irratti firfiffattee bara dheera'aan durattuu cubbuu irraa deebiteertiyyu.

²² Ani ammoo isinitti hima, guyyaa mura'aa isin caalaa Xiirrosii fi Sidooniif irra kasoo teeti.

²³ Atille Qifirnaahoom, haga gubba'aa ol ifi fuudhuu barbaaddee? Gara qile'ee gad buuta. Bilbaasoti si keessatti godhame, adoo Sodoon keessatti godhamee jiraatee, isiin haga guyyaa adhaa hin turtiyyu.

²⁴ Maarre ani sitti hima, guyyaa mura'aa san si caalaa worra Sodooniitiif irra kasoo teeti» jedhe.

Gara Kiyaa Kowa'aa Foorfadha'a (Luq. 10:21-22)

²⁵ Yennaa san Yesuus, «Abba'a, Goottaa ol-gubba'aa fi lafaa! Waan kana mara beekkole'ee fi qaroolee dhossitee, ijoollota didiqqo'otti‡ waan mudhitteef ani si galateeffadha.

²⁶ Ee, Abba'a, waan kanatti gammaddeerta.

²⁷ Abbaan kiyaa waan mara dabarse natti kenneera; Abbaa qofattuu beeka malee, Ilma ka beeku tokkolle hin jiru, akkasuma Ilma isaatii fi worra Ilmi isaa itti mudhisutti Abbaa beeka malee, Abbaa ka beeku tokkolle hin jiru» jedhe.

²⁸ «Isin worri ba'aa ulfaattuu ba'atee dadhabe marti, gara kiyaa kowa'a, ani isin foorfachiisa.

²⁹ Waanjoo§ kiyaa fuudha'aatii ba'adha'a, ana irralle'ee baradha'a; ani nageellichaa fi ka ifi gad qabu; lubbuu teessaniif foora hin dhaggattan.

³⁰ Waanjoon kiyaa kaso'o, ba'aan tiyya sallo'o» jedhe.

12

Gaaffii Marroo Guyyaa Sanbataa (Mar. 2:23-28; Luq. 6:1-5)

¹ Yennaa san guyyaa Sanbataatiin Yesuus fichaa qamadi'ii keessa dabare; barattooti isaalle waan beelotaneeranuuf, shawwee qamadi'ii kukkutanee nyaatiisa jalqabane.

² Worri Fariisaayotaa yennaa tana dhagge, «Ilaa, barattooti teeti Guyyaa Sanbataatiin waan seerri hin eeyyanne godhiisatti jirti» Yesuusiin jedhane.

³ Yesuus deebisee, «Daawitii fi worri isa waliin jiru yennaa beelowane waan inni godhe isin hin dubbinnee?

⁴ Inni gara mana Waaqaa seenee, daabboo Waaqaa dura dhikaattu, hayyoota qofa malee, inni yookiin worri isa waliin jiru nyaatiisaaf ta Seerri dhooggu nyaate.

⁵ Yookiin hayyooti Guyyaa Sanbataatiin Galma Waaqaa keessatti hujii yoo hujane, yakkaa te'ee akka itti hin laakkowanne, Seera Muuse'ee keessatti isin hin dubbinnee?

⁶ Ani isinitti hima, ka Galma Waaqaa caalu as jira.

11:24 Mat. 10:15; Luq. 10:12 ‡ 11:25 Ijoolllee didiqqo'otti: Worra beekkumsa yookiin qarummaa hin qannetti 11:27 Yoh. 3:35; 1:18; 10:5 § 11:29 Waanjoo: Qambaraa

⁷ Isin ammoo, «Ani marartii barbaada malee, ciinca'aa moti» jechuun maan akka te'e adoo beettanee jiraattanee, worra yakkaa hin qannetti yakkaa itti hin murtanuuyyu.

⁸ Ilmi Namaa Sanbata irralle'etti Goota'a» isaaniin jedhe.

Namicha Harka Laashoweru Tokko
(Mar. 3:1-6; Luq. 6:6-11)

⁹ Yesuus addee san lakkisee Mana Waaqonfannaa Yihudootaa seene;

¹⁰ namichi harka laashoweru tokko achi jiraayyu; jarri Yesuus himati-isaaf barbaadde takka, «Guyyaa Sanbataatiin fayyisiis seerumaa?» jettee isa gaafatte.

¹¹ Yesuus deebisee, «Isin keessaa nami hoolee takkaa qabu, guyyaa Sanbataatiin yoo isiin boolla buute, achi keessaa fuudhee alatti hin baasuu?

¹² Nami hoolee caalaa gatii guddoo hin qabaatuu ree! Tanaaf guyyaa Sanbataatiin dansaa hujuun Seeruma» jedhe.

¹³ Achiin duuba Yesuus namicha harka laashoween, «Harka keeti diriirsi» jedheen. Namichille yennaa harka diriirfate, harki fayyee, akkuma harka fayyaalessa kaanii te'e.

¹⁴ Fariisaayoti ammoo gad bayanee, attamiin akka isa ijjeesanu mala isatti dhowane.

Tajaajilaa Waaqi Filate

¹⁵ Yesuus yennaa tana beeke, addee san lakkisee deeme. Gumiin hedduulle isa hordotte, innille worra dhibame mara fayyisee,

¹⁶ marroo isaa eennulle'etti akka hin dubbanne isaan ajaje.

¹⁷ Kunille ka raagicha Isaayaasiin raagame akka muummowuuf te'e.

¹⁸ Wonni raagamelle, «Kunoo, tajaajilaan kiyya, ka ani filadhe, jaalatamaa kiyya, ka lubbuun tiyya guddoo itti gammadde.

Ayyaana kiyya isa gubbaa hin keya,
innille worra Yihudoota hin te'iniif muraa dhuga'aa hin lassa.

¹⁹ Inni hin moromu yookiin hin iyyu,
yookiin eennulle karaa keessatti qoonqoo isaa hin dhage'u.

²⁰ Inni haga muraa dhuga'aa injifachiisutti
leemmee caddee haanxottelle hin cassu;
yookiin ifa kululu* hin dhaanfu.

²¹ Worri Yihudoota hin te'inille addii isatti hin godhatan» jedhe.

Yesuusii Fi Bi'el Zebul
(Mar. 3:20-30; Luq. 11:14-23)

²² Achiin duuba namicha ballaa dubbatee hin dandeenne ka ayyaanni hamaan qabeeru tokko gara Yesuusii fidane; Yesuus isa fayyise, maarre namichi dubbatiisaa fi dhaggiisa dande'e.

²³ Gumiin marti baaseffattee, «Inni Ilma Daawitii te'innaa?» jette.

²⁴ Worri Fariisaayotaa ammoo yennaa tana dhage'ane, «Inni hunna Bi'el Zebulii mooticha durriisotaa calla'aan durriisota baasa» jedhane.

²⁵ Yesuus yaada isaanii beekke, «Mootummaan takka gargar ifi qoqooddee ta wol loltu yoo teete hin jiddi, qachaan yookiin maatiin takka gargar ifi qoqooddee ta wol loltu yoo teete hin dhaabbatu.

²⁶ Seexannille Seexana yoo baase, inni ifi qoqooda; mootummaan isaa attamiin dhaabbatti ree?

^{12:7} Mat. 9:13 ^{12:11} Luq. 14:5 * ^{12:20} Ifa kululu: Ifa dhaamiisa geyee liphi liphi jedhu. Ifi kun ifa shimalli yookiin liilanni gabbatu kennu ^{12:24} Mat. 9:34; 10:25

²⁷ Ani hunna Bi'el Zebuliitiin yoo durriisa baase, hordofattooti teessan hunna eennuutiin durriisota baasan? Tanaaf hordofattooti teessanuu isinitti hin muran.

²⁸ Ani ammoo Ayyaana Waaqaatiin yoo durriisa baase, mootummaan Waaqaa gara keessan dhutteerti.

²⁹ «Yookiin namicha jabaa dursee hidhu malee, attamiin nami tokko mana namicha jaba'aa san seenee karra isaa saamuu dande'a? Eega isa hidhe mana isaa saamuu dande'a.

³⁰ Eennulle ka golii tiyya hin te'in na moroma, nami na woliin wolitti hin qanne hin bittinneessa.

³¹ Tanaaf ani isinitti hima, Waaqa faanshessiisaa fi cubbuu maraaf nami araara hin dhaggata, nami Ayyaana Woyyicha faanshessu ammoo araara hin dhaggatu.

³² Nami Ilma Namaatiin moromee wo jedhu araara hin dhaggata, nami Ayyaana Woyyichaan moromee wo jedhu ammoo, bara kanalle'etti te'ee bara dhufu'uu jirulle'etti araara hin dhaggatu.

Mukaa Fi Midhaan Isaa
(Luq. 6:43-45)

³³ «Muki midhaan isaatiin waan beekkamuuf, midhaan dansaa akka qabaattanuuf, muka dansaa qabaadha'a; muka badaa yoo qabaattane midhaan badaa hin qabaattan.

³⁴ Isin ilmaan buuti'ii! Isin hamoolee adoo teetanuu, attamiin waan dansaa dubbatiisa dandeettan? Waan gadhaa guute afaan dubbata.

³⁵ Nami dansaan waan dansaa gadhaa ifii keessaa waan dansaa baasa; nami hamaalle waan hantuu gadhaa ifii keessaa waan hantuu baasa.

³⁶ Ani isinitti hima, guyyaa mura'aa dubbii gadhee afaan keessanii baate maraaf deebii kennitan;

³⁷ Dubbuma teessaniin isiniif muranti, dubbuma teessaniin isinitti muranti» jedhe.

Barsiisoti Beessisa Gaafatte
(Mar. 8:11,12; Luq. 11:29-32)

³⁸ Achiin duuba barsiisoti Seera Muuse'eetii fi Fariisaayoti gariin, «Barsiisa'a, nuuti akka ati beessisa nu dhaggisiittu barbaanna» jedhaneen.

³⁹ Yesuus ammoo deebisee, «Dhalooti hama'aa fi gaarayyeffataan beessisa gaafata, ammoo beessisa Yoonaasii raagichaa malee beessisi dhibiin hin kennamuuf.

⁴⁰ Akkuma Yoonaasiin raagichi halkan sadii fi guyyaa sadiin gadhaa qurxummii guddichaa keessa ture; maarre Ilmi Namaalle halkan sadii fi guyyaa sadiin awwaala keessa hin tura.

⁴¹ Kolbaan qachaa Nanawwe'ee guyyaa mura'aa dhaloota kana woliin kaatee itti murti, sababille lallaba Yoonaasiitiin cubbuu irraa deebiteerti; kunoo, ka Yoonaas caalu as jira!

⁴² Mootittiin kibbaa qaccee biyya lafaatii qarummaa solomoonii caqasiisaaf waan dhutteef, guyyaa mura'aa dhaloota kana woliin kaatee itti murti, kunoo ka Solomoon caalu as jira!» jedhe.

Bayee Deebi'iisa Ayyaana Hama'aa
(Luq. 11:24-26)

⁴³ Yesuus, «Ayyaanni hamaan nama keessaa yennaa bayu, addee itti foorfatu barbaadatiisaaf lafa bisaan hin jirre keessa deddeebi'a, ammoo hin dhaggatu.

⁴⁴ Achiin duuba, «Ani mana kiyya ka keessaa bayetti deebi'a» jedha. Yennaa deebi'u, manni duwwaa te'ee, haxowamee, qophoweeruun dhagga.

⁴⁵ Achiin duuba Ayyaanni hamaan sun Ayyaanota hamoota torba ka isa caalaa hamoota te'ane dhaqee fida; isaanille itti galanee achi le'an; haalli nama sanii ka durii caalaa ka duubarraa kun itti hammaata. Maarre dhaloota hamaa kana irralle'etti akkanuma hin te'a» jedhe.

Haadhaa Fi Obboleeyyan Yesuusii
(Mar. 3:31-35; Luq. 8:19-21)

⁴⁶ Adoo Yesuus gumi'itti dubbatiisatti jiruu, haadhaa fi obboleeyyan isaa, isa dubbisiisaaf barbaadane ala dhaabbataneeraniyyu. [

⁴⁷ Yennaa san nami tokko Yesuusiin, «Kunoo, haati teetii fi obboleeyyan teeti si dubbisiisaaf barbaadane ala dhaabbatiisatti jiran» jedheen.]†

⁴⁸ Yesuus deebisee, «Haati tiyyaa eennu, obboleeyyan tiyyalle eennu fa'a?» jedheen.

⁴⁹ Achiin duuba gara barattoota ifii harkaan akeekke, «Kunoo ti! Haati tiyyaa fi obboleeyyan tiyya!

⁵⁰ Nami fedhii Abbaa kiyya ka ol-gubba'aa godhu marti obboleessaa fi obboleettii tiyya, haadha tiyyalle'e» jedhe.

13

Mammaassa Namicha Sanyii Facaasuu
(Mar. 4:1-9; Luq. 8:4-8)

¹ Guyyuma san Yesuus manaa bayee dhaqee abbaayaa Galiila'aa bira tee'e.

² Gumiin hedduun isa biratti wolitti qabannaan, inni hoboloo takka keessa seenee barsiisiisaaf tee'e; kolbaan hedduulle qarqara abbaaya'aa dhaabbat-teertiiyyu.

³ Inni mammaaasaan waan hedduu isaanitti himiisaaf ka'ee, «Caqasa'a! Nami tokko sanyii facaasiisaaf baye.

⁴ Inni adoo facaasuu, sanyiin gariin karaa keessa harcaate, sinbirreelle dhuttee qocattee nyaatte.

⁵ Sanyiin dhibiin lafa dhakittii, addee biyyee guddoo hin qanne irra buute; biyyee gad fago'oo waan hin qanneef ariifattee muute.

⁶ Yennaa aduun itti baate ammoo qoorte; hidda gad fagaate waan hin qanneef godde.

⁷ Sanyiin gariin qoree keessa buute, qoreelle guddattee isii huute.

⁸ Sanyiin dhibiin biyyee dansaa irra buute, gariin midhaan dhibba, gariin midhaan jaatama, gariin midhaan soddoma buutte.

⁹ Nami gurra qabu dhage'uu ti!» jedhe.

Mammaassi Maaf Akka Barbaachise
(Mar. 4:10-12; Luq. 8:9-10)

¹⁰ Achiin duuba barattooti gara Yesuusii dhufanee, «Ati maaf mammaasaan kolba'atti dubbatta?» jedhane gaafatane.

¹¹ Yesuus deebisee, «Dhossaa mootummaa Waaqaa akka beettanu isiniif kennanteerti, isaaniif ammoo hin kennanne.

¹² Ka qabuuf, itti dabalantee hin kennantiif, bacaalle hin qabaata; ka wo hin qanne ammoo, wonni inni qabuuyyuu isa irraa hin fudhatanti.

¹³ Wonni ani mammaaasaan isaanitti dubbadhuuf, isaan adoo ilaalanuu hin dhagganu, adoo caqasanuu hin dhage'anu, yookiin hin hubatanu.

† **12:47** Woraabbiin durii gariin laakkossa 47 hin qabanu **13:2** Luq. 5:1-3 **13:12** Mat. 25:29; Mar. 4:25; Luq. 8:18; 19:26

¹⁴ Maarre raagi Isaayaas dubbatte isaan irratti muummoweera; wonni raagamelle,

«Isin caqasiisa hinuma caqattan, ammoo hin hubattanu,
ilaaliisa hinuma ilaaltan, ammoo ijjumaa hin dhaggitanu,

¹⁵ qalbiin isaanii waan sigiddeef,

gurri isaanii hin dhage'u,

ilti isaanii dunuunfatteerti,

maarre isaan ila isaaniitiin hin ilaalanu,

gurra isaaniille'een hin caqasanu,

qalbii isaaniitille'een hin hubatanu, hin deebi'anulle'e,

anille silaa isaan hin fayyisaayyu» jedhe.

¹⁶ «Ammoo ilti teessan waan dhaggituuf, gurri keessanille waan dhage'uuf isin ka badhaatane.

¹⁷ Ani dhugaa isinitti hima, raagoti heddu'uu fi kolbaan balchooti hedduun waan isin dhaggitane dhaggiisaaf halchane, ammoo hin dhaggine, waan isin dhageettane dhage'iisaaf halchane, ammoo hin dhageenne» jedheen.

Hiikkaa Mammaassa Namicha Sanyii Facaasuu

(Mar. 4:13-20; Luq. 8:11-15)

¹⁸ Yesuus itti dabalee, «Hiikkaa namicha sanyii facaasuu maan akka te'e dhage'a'a.

¹⁹ Nami jecha mootummaa Waaqaa dhage'ee hin hubatin, akka sanyii karaa keessatti facaafantee ti. Hamaaleessi dhufee waan gadhaa isaa keessatti facaafame butata.

²⁰ Sanyiin lafa dhakittii irratti facaafante, nama jecha dhage'ee yoosuma gammadaan fudhatu;

²¹ Te'uu malee inni hidda hin qabu, yennaa qofaaf jabaata malee, sababa jechaatiif yennaa rakkoon yookiin miidhaan kaatu, inni yoosuma gufata.

²² Sanyiin qoreelee odduu buute sun nama jecha dhage'u, ammoo yaad-doona lafa tanaatii fi jaalalli durumma'aa jecha hudha, midhaanille hin buusu.

²³ Sanyiin biyyee dansaa irra buute ammoo, sun nama jecha dhage'ee hubatu, ka dhugumaan midhaan buusu, tokkochi midhaan dhibba, ka dhibiin midhaan jaatama, ka dhibiille midhaan soddoma buusan» jedhe.

Mammaassa Jigida'aa

²⁴ Yesuus mammaassa dhibii isaanitti mammaakee, «Mootummaan ol-gubba'aa nama fichaa ifii keessatti sanyii dansaa facaase tokkoon wol fakkaatti.

²⁵ Yennaa nami marti rafe ammoo, diinni dhufee odduu qamadi'iititti jigidaa facaasee deeme.

²⁶ Yennaa qamadiin lattee midhaan buutte, jigidaalle mudhate.

²⁷ Tajaajiltooti abbaa ficha'aalle dhufanee, «Goota'a, fichaa keeti keessatti sanyii dansaa hin facaannee? Jigidaan kun eessaa dhufe ree?» jedhaneen.

²⁸ Inni deebisee, «Kana ka godhe diina» jedhe. Tajaajiltooti deebisane, «Nuuti dhandhee akka bubuqqinnu barbaaddaa ree?» jedhaneen.

²⁹ Inni ammoo deebisee, «Waawwo'o; jigidaa buqqisiisa irratti qamadii woliin buqqittan.

³⁰ Haga yennaa haamma'aatitti jigida'aa fi qamadiille wolumaan gud-datanuu ti; yennaa haamma'aa, ani worra haamuun, akka gubamuuf dursa'aatii jigidaa buqqisa'aa laddee ladde'een hidha'a, qamadii ammoo gootaraa kiyatti galcha'a» jedhaan» jedhe.

Mammaassa Midhaan Sanaafici'ii
(Mar. 4:30-32; Luq. 13:18-19)

³¹ Yesuus mammaassa dhibii isaanitti mammaakee, «Mootummaan Waaqaa midhaan sanaafici'ii ka nami tokko fuudhee fichaa ifii keessatti facaase fakkaatti;

³² midhaan isi'ii midhaan mara caalaa diqqaata, yennaa guddatte ammoo waan ficha'atti facaafame mara caaltee muka teetee, sinbirreen dhuttee dameelee isi'ii keessatti mana ifii ijaarratti» jedhe.

Mammaassa Uuko'oo
(Luq. 13:20-21)

³³ Yesuus ammalle mammaassa dhibii isaanitti mammaakee, «Mootummaan Waaqaa uukoo dubartiin takka fuutee bullaa safartuu sadiin wolitti mattee, bullaa san mara bukeessitu fakkaatti» jedhe.

Mammaassi Maaf Akka Mammaakame
(Mar. 4:33-34)

³⁴ Yesuus mammaasaan waan kana mara gumi'itti dubbate; mammaasaan male waan tokkolle isaanitti hin dubbanne.

³⁵ Wonni raagaan,
«Mammaasaan afaan saaqadha;
dadama biyya lafaatii jalqabee waan dhokate dubbadha» jedhe tanaan muummotte.

Yesuus Mammaassa Marroo Jigida'aa Hiike

³⁶ Achiin duuba Yesuus gumii lakkisee mana seene. Barattooti isaalle gara isaa dhikaatanee, «Mammaassa jigidaa fichaa qamadi'ii keessaa nuu hiiki» jedhaneen.

³⁷ Yesuus deebisee, «Ka sanyii dansaa facaasu Ilma Namaa ti;

³⁸ fichaan biyya lafaa ti; sanyiin dansaan ijoollee mootummaa Waaqaa ti; jigidaan ijoollee hamaalessaa ti;

³⁹ diinichi jigidaa facaase Seexana; haammaan muummee biyya lafaa ti; worri haamu ergantoota Waaqaa ti.

⁴⁰ Akkuma jigidaan wolitti qabamee ibiddaan gubamu, muummee biyya lafaalle'etti akkasuma hin teeti.

⁴¹ Ilmi Namaa ergantoota ifii hin erga; isaanille worra sababa cubbu'uu te'ee fi worra hantuu huju mara mootummaa isaa keessaa wolitti qabaneen,

⁴² addee isaan bowaa ilkaan itti qaranu, qilee ibiddaatitti isaan gatan.

⁴³ Balchooti ammoo mootummaa Abbaa isaanii keessatti akka adu'uu hin ifan. Nami gurra qabu dhage'uu ti!» jedheen.

Mammaassa Karra Dhokatteertuu

⁴⁴ Yesuus, «Mootummaan ol-gubba'aa karra fichaa keessatti dhoffante, ta nami tokko dhaggee deebisee dhosse fakkaatti; achiin duuba gammadaan deemee waan qabu mara gurguree fichaa san bitate.

⁴⁵ «Ammalle, mootummaan ol-gubba'aa daldalticha dooqa dansaa bitati-isaaf barbaadu fakkaatti;

⁴⁶ daldaltichi dooqa gatii gudda'aa tokko yennaa dhagge, dhaqee waan qabu mara gurguree dooqa san bitate.

⁴⁷ «Ammalle, mootummaan ol-gubba'aa caccoo* qurxummi'ii ta abbaaya'atti afanee qurxummii adda addaa duudii qadde fakkaatti;

⁴⁸ caccoon yennaa guutte, isaan gara cina'aa harkisaneen, gad tee'aneen, qurxummii dadansaa saaxaraa keessa keyataneen, babadduu ammoo gatane.

* 13:47 Caccoo: Tiyyoo qurxummi'iin qabanu

⁴⁹ Yennaa muummee biyya lafaalle akkasuma hin teeti. Ergantooti Waaqaa dhuttee worra hamoota worra balchoota irraa gargar baattee,

⁵⁰ addee isaan bowaa ilkaan itti qaranu, qilee ibiddaatitti hin qolaansan» jedhe.

⁵¹ Yesuus, «Kana mara hubattaneertanii?» jedhee isaan gaafate.

Isaan deebisane, «Ee» jedhane.

⁵² Innille isaaniin, «Tanaaf barsiisaan Seeraa ka mootummaa ol-gubba'aatiif leenji'e, abbaa manaa ka meya mana ifii keessaa waan haareyaa fi waan dullattii gad baasu fakkaata» jedhe.

Yesuus Naaziretitti Tuffatame

(Mar. 6:1-6; Luq. 4:16-30)

⁵³ Yesuus yennaa mammaassa kana fixate, addee san lakkisee deeme.

⁵⁴ Inni gara biyya ifii dhufee Mana Waaqonfannaa Yihudootaa keessatti barsiise. Worri isa dhage'elle baaseffatane, «Namichi kun qarummaa tana eessaa dhaggate, bilbaasi kunille maan?» jedhane.

⁵⁵ Kun ilma namicha muka bocuutii motii? Haati isaa Maariyaam jedhantii motii? Obboleeyyan isaalle Yaaqoobii fi Yoseef, Simoonii fi Yihuda'aa motii?

⁵⁶ Obboleettoti isaalle martinuu nu woliin jiranii motii? Inni waan kana mara eessaa dhaggate?

⁵⁷ Tanaaf isaan isa tuffatane. Yesuus ammoo isaaniin, «Raagaan tokko addee dhibi'itti malee, biyya ifitii fi mana ifii keessatti ulfinna hin dhaggattu» jedhe.

⁵⁸ Sababa dhugeeffatiisa dhaba isaaniitiif, inni bilbaasota hedduu achitti hin hunye.

14

Du'a Yohaannisii Cuupha'aa

(Mar. 6:14-29; Luq. 9:7-9)

¹ Yennaa san Heroodisiin bulchaan biyya Galiila'aa, gurra Yesuusii dhage'ee,

² tajaajiltoota ifitiin, «Kun Yohaannisii cuupha'a; isatti du'a keessaa ka'eera, kanaaf hujiin bilbaasaa tun isaan hujamiisatti jirti» jedhe.

³ Heroodis sababa Heroodiyaasii niitii obboleessa ifi ta Filiphosiitiif jedhee, Yohaannis qassiisee mana hidha'atitti hiisiseeraayyu.

⁴ Yohaannis Heroodisiin, «Niitii obboleessa keetii fuudhuun sii seeraa moti» jedheeraayyu.

⁵ Heroodis, Yohaannis ijjeesiisaaf barbaade, ammoo kolbaan akka raaga'atitti waan ilaalteertuuf sodaate.

⁶ Guyyaan dhaloota Heroodisii ulfeeffamuu yennaa geye ammoo, intalti Heroodiyaasii keessummoota duratti sirbite, Heroodis guddoo gammachiitte.

⁷ Tanaaf Heroodis isi'iin, «Waan ati na gaafattu mara si'iif hin kenna» jedhee waadaa galeef.

⁸ Isiin Haadha ifitiin gorfantee, «Ammuma mataa Yohaannisii cuupha'aa qori'itti naa kenni» jette.

⁹ Mootichi gadde; te'uu malee kakuu ifitii fi keessummaa ifi duratti waadaa galeef jedhee, mataan Yohaannisii akka isi'iif kennamu ajaje;

¹⁰ Ittille ergee, mana hidha'aa keessatti mataa Yohaannisii irraa kuchisiise.

11 Mataan sun qori'itti fidamee intalaaf kenname; isiin gara haadha ifii fidde.

12 Barattooti Yohaannisii dhufanee reeffa isaa fuudhanee awwaalane; achiin duuba dhaqanee Yesuusitti himane.

*Yesuus Nama Kuma Shanii Areere
(Mar. 6:30-44; Luq. 9:10-17; Yoh. 6:1-14)*

13 Yesuus du'a Yohaannisii yennaa dhage'e, addee san lakkisee qofuu hobolo'oon addee qoommi'ii dhage. Kolbaan deemuu isaa yennaa dhageette ammoo, qachaa keessaa baatee miilaan isa hordotte.

14 Yesuus qarqara abbaaya'aatitti hoboloo irraa bayee, yennaa gumii guddoo dhagge, isaaniif nayee dhibamoota isaaniille fayyise.

15 Yennaa latti galgalootte, barattooti dhufanee, «Addeen tun urma, lattille dhiiteerti; gumiin tun gara ollootaa dhaxxee sagalee akka bitattu gumii tana gad lakkisi!» jedhaneen.

16 Yesuus ammoo, «Dhaquu isaan hin barbaachisu; isinuu waan nyaatanu kenna'aafi!» jedhe.

17 Isaan deebisane, «Nuuti xaltaa shanii fi qurxummii lama qofa asii qanna» jedhane.

18 Yesuus, «Sanuma gara kiyya as fida'a!» jedhe.

19 Achiin duuba inni gumiin marra irra akka teettu ajaje. Xaltaa shanii fi qurxummii lama fuudhee, gara ol-gubba'aa ilaalee, galateeffatee xaltaa caccassee, barattootatti kennee, barattootille gumi'iif kennane.

20 Isaan martinuu nyaatanee quufane; hambaa irraa hatte, kollonjoo kudhanii lama guutuu fuudhane.

21 Worri nyaate dubarti'ii fi ijoolleen adoo hin laakkowamin, dhiirti gara kuma shanii ti.

*Yesuus Bisaan Gubbaa Ideeme
(Mar. 6:45-52; Yoh. 6:15-21)*

22 Yennuma san inni adoo gumii geegessuu barattooti hoboloo yaabbataanee abbaayaa gamatti isaan dura akka bu'anu godhe.

23 Yesuus gumii geegesseen duuba, daadimatiisaaf qofuu gara gaaraa ol baye. Yennaa galgalootte, inni qofuu achi jiraayyu;

24 yennaa san hoboloon ammoo, qilleensi waan itti dhowuuf, qarqara irraa fagaattee, danbali'iin asii fi achi dadarbante.

25 Halkan gara iyya lukku'uu ta lammeesso'ootitti Yesuus bisaan gubbaa ideemaa gara barattoota ifii dhufe.

26 Barattooti yennaa bisaan gubbaa ideemuun isa dhaggite ammoo, bararaxxee, «Kun eker'a» jettee soda'aan iyyite.

27 Yennuma san ammoo Yesuus, «Jabaadha'a! Wonni anaa, hin sodaatina'a!» jedhee dubbate.

28 Pheexroos deebisee, «Goota'a, yoo si teete, bisaan gubbaa gara keeti akka dhufu na ajaji» jedheen.

29 Yesuus deebisee, «Koy!» jedhe. Maarre Pheexroos hoboloo keessaa bayee, gara Yesuusii, bisaan gubbaa ideemiisa jalqabe.

30 Qilleensa jabaa yennaa dhagge ammoo, sodaatee, lixiisaafille jalqabee jennaan, «Goota'a, na fayyisi!» jedhee iyye.

31 Yesuus yennuma san harka ifii diriirsee, isa qabee, «Ati nama dhugeeffannaa diqqo'oo! Maaf mante?» jedheen.

32 Yennaa Yesuusii fi Pheexroos hoboloo yaabane, qilleensi cadhise.

33 Worri hoboloo keessaa, «Dhugumaan ati ilma Waaqaa ti» jedhee Yesuusiif sagade.

*Yesuus Genesaarexitti Worra Dhibame Fayyise**(Mar. 6:53-56)*

³⁴ Yesuusii fi barattooti isaa yennaa gamatti bu'ane, lafa Genesaarex jedhantu geyane.

³⁵ Kolbaan lafa sanii Yesuus beetteen duuba, adaala san mara keessa ergaa ergitee worra dhibameeru mara gara isaa fichisiittee,

³⁶ handaaruma woyaa isaalle akka isaan tuqanu kadhatte; worri tuqe martinuu fayye.

15*Seera Waaqaatii Fi Aadaa Maanguddo'oo**(Mar. 7:1-13)*

¹ Achiin duuba Fariisaayotaa fi barsiisoti Seera Muuse'ee Yerusaalemii gara Yesuusii dhufanee,

² «Barattooti teeti maaf aadaa maanguddo'oo ulfeessuu dhaban? Isaan nyaatiisaan dura harka ifii hin dhiqatanu!» jedhaneen.

³ Yesuus deebisee, «Isin aadaa teessaniif jettanee maaf Seera Waaqaa ulfeessuu dhaddan?

⁴ Waaqi, «Abbaa keetii fi haadha teeti ulfeessi», «Nami Abbaa yookiin haadhaa abaaru dhugumaan du'uu qaba» jedhee ajajeera.

⁵ Isin ammoo nami tokko abba'aan yookiin haadhaan, «Qarqaarsi isin na biraa dhaggataa turtane Waaqaaf kennameera» yoo jedheen,

⁶ inni «Abba'aa fi [haadha ifii] ulfeessuu hin barbaachisu» jettan, aadaa teessaniif jettanee, Seera Waaqaa balleessitan.

⁷ Isin kijiiboole'e! Isaayaas marroo teessaniif raagee,

⁸ ««Kolbaan tun afaaniin na ulfeessiti, gadhaan isi'ii narraa fago'o.

⁹ Kolbaan tun ajaja namaa akka seera Waaqaatitti barsiisaa, akkasumaan na waaqonsiti» ta jedhe dhuga'a» jedhe.

*Waan Nama Batteessu**(Mar. 7:14-23)*

¹⁰ Achiin duuba Yesuus gumii gara ifii waamee, «Caqasa'aatii hubadha'a:

¹¹ wonni nama batteessu waan afaan namaa keessaa bawu malee, waan gara afaan namaa seenuu moti» jedheen.

¹² Achiin duuba barattooti itti dhikaattee, «Worri Fariisaayotaa waan ati jette yennaa dhage'ane akka gufatane beetaa?» jedhaneen.

¹³ Yesuus deebisee, «Wonni Abbaan kiyaa ka ol-gubba'aa hin dhaabin marti hin buqqaati.

¹⁴ Waan isaanii lakkisa'a; isaan ballaa ballaa sooressu. Ballaan yoo ballaa sooresse, lamaanuu boolla keessa bu'an» jedhe.

¹⁵ Pheexroos ammoo deebisee, «Mammaassa kana nuuf hiiki» jedheen.

¹⁶ Achiin duuba inni, «Isinille haga ammaa hin hubatin jirtanii?

¹⁷ Wonni afaaniin seenu martinuu, gadha'atti dabaree, nafa namaa keessaa akka bawu isin hin hubattanuu?

¹⁸ Wonni afaan namaatii bawu ammoo gadhaa irraa dhufa, wonni nama batteessulle kana.

¹⁹ Sababille Yaadi hamaan, ijjeesuun, gaarayyeffatuun, sagaagaluun, hatuun, dharaan dhugaa bawuun, maqaa namaa balleessuun gadhaa namaa keessaa baya.

²⁰ Wonni nama batteessu kana malee, harka hin dhiqatiniin nyaatiis nama hin batteessu» jedheen.

Dhugeeffannaa Dubartii Takkaa
(Mar. 7:24-30)

²¹ Yesuus addee san lakkisee gara qachoota Xiirrosiitii fi Sidoonii dhage.

²² Achiin duuba dubartiin biyya Kana'aanii takka adaala sanii dhuttee, «Ilma Daawitii, Gootta'a! Intalti tiyya durriisaan qabantee farriisatti jirtii, naa marari» jedhaa iyyite.

²³ Inni ammoo womaa isi'iif hin deebinne. Barattooti isaalle dhufanee, «Isiin iyyaa nu gula waan deentuuf, isii ifi irraa geegessi!» jedhaa isa kadhatane.

²⁴ Yesuus deebisee, «Ani worra akka hoole'ee bade kolbaa Israa'elii qofaaf ergame» jedheen.

²⁵ Dubartittiin ammoo dhuttee isa duratti jilbiiffattee, «Gootta'a, na gar-gaar» jetteen.

²⁶ Yesuus deebisee, «Sagalee ijoolle'ee fuudhanee sare'eef qolaansuun sirri'ii moti» jedheen.

²⁷ Isiin deebittee, «Ee, Gootta'a, te'uu malee sareelle woma qorii gootaa isaanii irraa harca'u nyaatti» jette.

²⁸ Achiin duuba Yesuus deebisee, «Dubartii tana, dhugeeffannaan teeti guddo'o! Akkuma halchaa teetii sii teetuu» jedheen. Intalti isi'iille yoosuma fayyite.

Yesuus Kolbaa Hedduu Fayyise

²⁹ Yesuus achii deemeen duuba, cinaa abbaayaa Galiila'aatiin dabaree, gaaratti ol bayee achi tee'e.

³⁰ Gumiin guddoon worra fafowe, worra ballaa, worra naafa, worra dubbatuu hin dandeennee fi worra dhibii hedduu fiddee gara isaa dhuttee, miila Yesuusii jala keette. Innille isaan fayyise.

³¹ Maarre gumiin worri dubbatee hin dandeenne dubbatuun, fafooti fayyanuun, naafoti ideemanuun, ballooti dhagganuun yennaa dhaggite baaseffatte. Waaqa Israa'eliille galateeffatte.

Yesuus Nama Kuma Afur Areere
(Mar. 8:1-10)

³² Achiin duuba Yesuus barattoota ifii gara ifii waamee, «Kolbaan tun guyyaa sadiin waan na woliin turteef, waan nyaattulle waan hin qanneef nayeeraaf; karaa irratti waan gaggadduuf, beelaan jiranuun isaan geeges-suu hin barbaadu» jedheen.

³³ Barattooti, «Lafa goomole'ee tana keessatti sagalee gumii guddoo tana areeriisaaf geettu eessaa fuuna?» jedhaneen.

³⁴ Yesuus, «Xaltaa meeqa qaddan?» jedhee gaafate. Isaan, «Xaltaa torbaa fi qurxummii didiqqoo diqqoo takka qanna» jedhaneen.

³⁵ Maarre Yesuus akka gumiin lafa irra gad teteettu ajaje.

³⁶ Achiin duuba xaltaa torbaa fi qurxummii fuudhee, Waaqa galateeffa-teen duuba, caccassee barattootatti kenne; barattootille kolba'aaf kennane.

³⁷ Isaan martinuu nyaatanee quufane; barattooti hambaa hatte kollonjoo torba guutuu fuudhane.

³⁸ Worri sagalee san nyaate, dubartootaa fi ijoolleen adoo hin laakkowamin dhiira kuma afur.

³⁹ Yesuus gumii san geegesseen duuba, hoboloo yaabee gara lafa Maga-daan jedhantu dhage.

16

Worri Fariisaayotaa Beessisa Gaafatane (Mar. 8:11-13; Luq. 12:54-56)

¹ Worri Fariisaayotaatii fi worri Saduqootaa dhufanee, Yesuus haga ilaali-isaaf beessisa tokko ol-gubbaa irraa akka itti mudhisu isa gaafatane.

² Inni deebisee, «Yennaa galgalaa, «Gubbaan waan diimatteertuuf, haalli qilleensaa dansa'a» jettan;

³ bariille, «Gubbaan waan diimattee dukkudhootheertuuf, adha hin rooba» jettan. Bifa gubba'aa ilaaltanee attam akka te'u himuu hin beettan, beessisa baraa ammoo attam akka te'u himuu hin dandeettanu.

⁴ Dhalooti hama'aa fi Waaqaaf hin addatanne beessisa barbaada; ammoo beessisa Yoonaasii malee, beessisi hin kennamuuf» isaaniin jedhe. Achiin duuba Yesuus isaan lakkisee deeme.

Uukoo Fariisaayotaatii Fi Saduqootaa (Mar. 8:14-21)

⁵ Barattooti yennaa abbaaya'aan gamatti bu'ane, daabboo tokkolle fidati-isa dedhaneeran.

⁶ Yesuus, «Ilaalladha'a! Uukoo worra Fariisaayotaatii fi Saduqootaa irraa ifi eegadha'a» isaaniin jedhe.

⁷ Isaan wol woliin, «Waan nuuti daabboo fidatiisa dhanneef akkas jedha» jedhane.

⁸ Yesuus yaada isaanii beekke, «Isin worra dhugeeffannaa diqqo'oo, mar-roo daabboo fidatiisa dhabiisaa maaf dudubbattan?

⁹ Isin ammalle hin hubattanuu? Xaltaa shanan namoota kuma shaniif geyee, hambaa kollonjoo meeqa akka fuutane hin qaabattanuu?

¹⁰ Yookiin xaltaa torba namoota kuma afuriif geyee kollonjoo meeqa akka fuutane hin qaabattanuu?

¹¹ Marroo daabbo'oo akka ani hin dubbatin attam hubatuu dhaddan? Uukoo worra Fariisaayotaatii fi Saduqootaa irraa ifi eegadha'a!» isaaniin jedhe.

¹² Achiin duuba barattooti akka Yesuus uukoo daabbo'oo irraa adoo hin te'in, barsiisa Fariisaayotaatii fi Saduqootaa irraa ifi eeggachiise hubatane.

Pheexroos Ebeluu Yesuusii Hime (Mar. 8:27-30; Luq. 9:18-21)

¹³ Yesuus gara lafa qachaa Qiisaariyaa Filiphosii bira yennaa dhage, barattoota ifitiin, «Kolbaan Ilma Namaatiin eennu jetti?» jedhee gaafate.

¹⁴ Isaan deebisane, «Gariin, «Yohaannisii cuupha'a» si'iin jedhan, worri dhibiin ammoo, «Eliyaas» si'iin jedhan, worri dhibiille, «Ermiyaas yookiin raagota keessaa tokko» si'iin jedhan» jedhaneen.

¹⁵ Inni deebisee, «Isin hoo eennu anaan jettan?» isaaniin jedhe.

¹⁶ Simoon Pheexroos deebisee, «Ati Masihi, Ilma Waaqa jiraata'aa ti» jedhe.

¹⁷ Yesuusille deebisee, «Ilma Yoona'aa Simoon, ati ka badhaate! Kana Abbaa kiyya ka ol-gubbaa jirutti sitti mudhise malee, namaa moti.

¹⁸ Maarre Pheexroos*, ani sitti hima, ati rassa'a; rassaa kana irratti wolde'a kiristaanaa kiyya hin ijaara; hunna du'aalle wolde'a kiristaanaa kana hin injifattu.

¹⁹ Ani furtuu mootummaa ol-gubba'aa si'iif hin kenna, wonni ati lafa irratti hiite, ol-gubbaalle'etti ka hidhame te'a, wonni ati lafa irratti hiittelle ol-gubbaalle'etti ka hiikame te'a» jedhe.

²⁰ Achiin duuba Yesuus Masihi akka te'e eennulle'etti akka hin hinne jabeessee barattoota ifii ajaje.

Yesuus Marroo Rakko'oo Fi Du'a Ifii Dubbate
(Mar. 8:31–9:1; Luq. 9:22-27)

²¹ Yennaa sanii jalqabee Yesuus barattoota ifitiin, «Ani gara Yerusaalemii dhaquu qaba; achitti harka jaarsole'eetitti, harka sooreyyii hayyootaatii fi barsiisota Seera Muuse'eetitti guddoo hin rakkadha, hin ijjeefamalle'e; guyyaa sadeesso'oo ammoo hin ka'a» jedhu'utti ka'e.

²² Pheexroos cina'atti isa baasee, «Gootta'a, Waaqi si hanqisu! Wonni kun ijjumaa si hin dhaqqabin» jedhaa isa xixuu jalqabe.

²³ Inni ifi irra garagalee, Pheexroosiin, «Seexana, ana irraa bayyadhu! Qalbiin teeti waan namaa malee, waan Waaqaa waan hin yaadaneef, ati naaf gufu'u» jedheen.

²⁴ Achiin duuba Yesuus barattoota ifitiin, «Nami yoo na hordofuu barbaade ifi mormatee, fannoo ifii ba'atee na hordofuu ti.

²⁵ Nami jiruu ifii fayyifatu barbaadu hin dhaba; nami naaf jedhee jiruu ifii dhabu, hin dhaggata.

²⁶ Nami waan lafa tanaa mara qabaatee lubbuu ifii ammoo yoo dhabe maan isaa baati? Yookiin nami wodoo lubbuu ifitiif gatii maan kaffalu'uu dande'a ree?

²⁷ Ilmi Namaa ulfinna Abbaa ifitiin ergantoota ifii woliin hin dhufa; achiin duuba tokko tokkoofuu akka hujii isaatitti gatii hin kennaaf.

²⁸ Ani dhugumaan isinitti hima, worra as dhaabbatanu keessaa, Ilmi Namaa mootummaa ifitiin dhufuun haga dhagganutti, namooti hin duune jiran» jedhe.

17

Jijjiiramiisa Bifa Yesuusii
(Mar. 9:2-13; Luq. 9:28-36)

¹ Guyyaa jaan duuba, Yesuus Pheexroosii fi Yaaqoob, Yohaannisii obboleessa Yaaqoobille fudhatee, gara gaara dheeraa tokkoo qofitti ol isaan baase.

² Innille isaan duratti bifa jijjiiramee, fuulli isaalle akka adu'uu ifee, woyaan isaalle adii calalaxxuu teete.

³ Dedhuma Muuse'ee fi Eliyaas Yesuus woliin dubbatanuun dhaggane.

⁴ Achiin duuba Pheexroos Yesuusiin, «Gootta'a, asitti dhaggamuun keenna nu'uuf dansa'a! Yoo fedhii keeti te'e, gosee sadiin, takkattii si'iif, takkattii Muuse'eef, takkattii Eliyaasiif ijaarrraa» jedhe.

⁵ Adoo inni tana dubbatiisatti jiruu, dedhuma duumensi ifaalessi isaan golle; duumensa san keessalle'ee qoonqoon takka, «Kun Ilma kiyya ka ani jaaladhu, isa dhage'a'a!» jette.

⁶ Barattooti yennaa tana dhage'ane, rifatanee lafa irratti fuulaan gad jigane.

⁷ Yesuus ammoo isaanitti dhikaatee harkaan isaan qaqqabee, «Ka'aa, hin sodaatina'a!» jedheen.

⁸ Isaan yennaa ol jedhanee ilaalane, Yesuus malee nama tokkole hin dhaggine.

⁹ Isaan gaara irraa adoo gad bu'iisatti jiranuu, Yesuus, «Ilmi Namaa du'aa haga ka'utti waan dhaggittane kana nama tokkole'etti hin himina'a» jedhee barattoota ifii ajaje.

¹⁰ Barattooti isaalle, «Barsiisoti seera Muuse'ee, «Eliyaasitti dursee dhufuu qaba» maaf jedhan ree?» jedhanee isa gaafatane.

¹¹ Inni deebisee, «Eliyaas waan mara adde'etti deebisiisaaf dhugumaan hin dhufa;

¹² Ani ammoo isinitti hima Eliyaas duruu dhufeera, kolbaan isa hin hubanne, akkuma fedhane isa godhane. Maarre Ilmi Namaalle harka isaaniititti hin rakkata» jedheen.

¹³ Achiin duuba barattooti akka inni marroo Yohaannisii cuupha'aa isaanitti dubbatiisatti jiru hubatane.

*Yesuus Mucaa Ayyaana Hama'aan Qabame Fayyise
(Mar. 9:14-29; Luq. 9:37-43)*

¹⁴ Yennaa Yesuusii fi barattooti isaa sadiin gara gumi'ii deebi'ane, namichi tokko dhufee, Yesuus duratti jilbiiffatee,

¹⁵ «Gootta'a, mucaa kiyya mararfadhu, inni dhukkuba gaggaddu'uu* waan qabuuf guddoo rakkatiisatti jira; inni yennaa hedduu ibiddaa fi bisaan keessatti jiga.

¹⁶ Ani gara barattoota teetii isa fidee, isaan ammoo isa fayyisuu hin dandeenne» jedhe.

¹⁷ Yesuus deebisee, «Isin dhaloota hin dhugeeffannee fi dabaaleessa! Haga yoomii isin woliin jiraadha? Haga yoomii isin ossadha? Mucaa gara kiyya fida'a!» jedhe.

¹⁸ Yesuus ayyaana hamaa san xixee, mucaa keessaa baase; mucaalle yoosuma fayye.

¹⁹ Achiin duuba barattooti qofuu gara Yesuusii dhufanee, «Nuuti maaf ayyaana hamaa san baasuu dadhanne?» jedhanee isa gaafatane.

²⁰ Yesuus deebisee, «Waan dhugeeffannaan teessan diqqaatteef re! Ani dhugumaan isinitti hima, dhugeeffannaa haga midhaan sanaafici'ii adoo qabaattanee, gaara kanaan, «Asii ka'ii achi deemi!» yoo jettane, innille hin deema; wonni isiniif hin dande'anne hin jirtu. [

²¹ Ka akkanaa kun daadimataa fi laamaan malee hin bawu» isaaniin jedhe.]†

*Yesuus Ammalle Marroo Du'aa Fi Du'aa Ka'a Ifii Dubbate
(Mar. 9:30-32; Luq. 9:43-45)*

²² Yennaa barattooti isaa Galiilaa keessatti wolitti qabamane, Yesuus isaaniin, «Ilmi Namaa harka namootaatitti dabarfamee hin kennama,

²³ isaanille isa hin ijjeesan, inni ammoo guyyaa sadeesso'ootitti du'aa hin ka'a» isaaniin jedhe. Isaanille guddoo gaddane.

Kaffala Gibira Galma Waaqaa

²⁴ Yesuusii fi barattooti isaa yennaa Qifirnaahoom geyane, worri gibira Galma Waaqaa guuru gara pheexroosii dhufanee, «Barsiisaan keessan gibira Galma Waaqaa hin kaffaluu?» jedhaneen.

²⁵ Pheexroos, «Ee, hin kaffala» jedheen. Pheexroos gara manaa dhufee adoo isatti hin dubbatinu, Yesuus dursee, «Simoon, maan sitti fakkaata?

* **17:15** Gaggaddu'uu: Gaggaddo'oo † **17:21** Woraabbiin durii durii gariin laakkossa kana hin qabu

Moototi biyya lafaa qaraxa yookiin gibira eennu irraa guuran? Nama biyya ifii irraa moo nama biyya dhibi'ii irraa guuran?» jedhee isa gaafate.

²⁶ Pheexroos deebisee, «Nama biyya dhibi'ii irraa guuran» jedheen.

Yesuus deebisee, «Nami biyya isaanii bilisa ree!

²⁷ Te'uu malee, nuuti gufuu akka isaanitti hin teene, gara abbaaya'aa dhaqiitii malxaqqoo bisaanitti darbadhu; qurxummii qara baatu fuutee, afaan isi'ii yoo bante, beesee keessatti hin dhaggita; beesee san fuudhiitii naaf, ifille'eef kaffali!» jedheen.

18

Ka Caalu Eennu

(Mar. 9:33-37; Luq. 9:46-48)

¹ Yennaa san barattooti gara Yesuusii dhufanee, «Mootummaa Waaqaa keessatti ka caalu eennu?» jedhaneen.

² Inni daa'ima tokko waamee, isaan dura dhaabbachiisee,

³ «Ani dhugumaan isinitti hima, yoo hin jijjiiraminii fi deebitanee akka daa'immaanii hin te'in, isin ijjumaa mootummaa ol-gubba'aatitti hin gal-tanu.

⁴ Eennulle ka akka daa'ima kanaa ifi gad qabu mootummaa ol-gubba'aa keessatti mara ka caalu te'a.

⁵ Eennulle daa'ima akkasii maqaa kiyyaan ka fudhatu na fudhata.

Gara Cubbu'uu Ataabuu

(Mar. 9:42-48; Luq. 17:1-2)

⁶ «Isin keessaa nami tokko worra didiqqaa natti dhugeeffatu kana keessaa tokkotti gufuu yoo te'e, dhakaan daaku'uu guddaan morma isaatitti hid-hamee qilee abbaaya'aatitti adoo gatamee liqinfamee isaa woyya.

⁷ Sababa waan kolbaa gufachiisuutiif biyya lafaatiif aanne'e! Wonni gufachiisu dhufuu hin oolu; ammoo ka nama gufachiisuuf aanne'e!

⁸ Harki keeti yookiin miilli keeti akka cubbuu tolchitu yoo si gufachiise, kuttii gati; harka lamaan yookiin miila lamaan qabaatee ibidda bara baraatitti gatamiisaa mannaa, fafoottee yookiin naafattee gara jiruu bara baraa galiisa si'iif woyya.

⁹ Ilti teetille yoo si gufachiitte, ifi keessaa baasii gati; ila lamaan qabaatee qilee ibiddaatitti gatamiisaa mannaa, ila takkaa qabaatee gara jiruu bara baraa galiisa si'iif woyya» jedhe.

Mammaassa Hoolee Baddee

(Luq. 15:3-7)

¹⁰ Yesuus, «Ani isinitti hima, ergantooti Waaqaa ta ol-gubbaa jirtu, ta isaan eeddu yennaa mara fuula Abbaa kiyya ka ol-gubbaa jiruu waan ilaaltuuf, worra didiqqaa kana keessaa tokkocha akka hin tuffanne ifi eegadha'a. [

¹¹ Ilmi Namaa worra bade fayyisiisaaf dhufe.]*

¹² Maan isinitti fakkaatti? Nami tokko hoolota dhibba qabaatee, isaan keessaa takkattiin yoo badde, sagaltamii sagal gaara irratti lakkisee ta badde san hin barbaaduu?

¹³ Ani dhugumaan isinitti hima, inni yoo isii dhagge, ta hin badin sagaltamii sagal caalaa itti gammada.

¹⁴ Akkasuma worra didiqqaa kana keessaa tokkolle akka badu fedhii Abbaa keessan ka ol-gubba'aatii moti.

Nama Yakkeef Maan Godhuu Akka Barbaachisu

(Luq. 17:3)

* **18:11** Woraabbiin durii gariin laakkossa 11 hin qabanu

¹⁵ «Obboleessi keeti yoo si yakke, dhaqii lafa isin lamaan qofi jirtanutti yakkaa isaa itti himi. Inni yoo si dhage'e, ati deebittee obboleessa keeti isa godhatta.

¹⁶ Inni yoo si hin dhage'in ammoo, dubbiin marti dhugaa baya nama lamaatiin yookiin sadiitiin waan mirkanoottuuf, nama dhibii tokko yookiin lama fudhadhuu dhaqi.

¹⁷ Inni yoo isaan dhage'uu dide, wolde'a kiristaanaatitti himi; wolde'a kiristaanaalle yoo dhage'uu dide, akka worra Yihudoota hin te'iniitii fi guurtuu qaraxaatitti laakkow.

¹⁸ «Ani dhuguma isinitti hima, wonni isin lafa irratti hiitane ol-gubbaalle'etti ka hidhame te'a; wonni isin lafa irratti hiittanelle ol-gubbaalle'etti ka hiikame te'a.

¹⁹ Ammalle, ani isinitti hima, isin keessa nami lama, biyya lafaa irratti marroo waan tokkoo wolii galee yoo daadimate, Abbaan kiyya ka ol-gubbaa jiru waan isaan daadimatane san isaaniif hin godha.

²⁰ Addee namooti lama yookiin sad maqaa kiyyaan wolitti qabamanutti, ani isaan waliin jira» jedhe.

Woliif Araaramuu

²¹ Achiin duuba Pheexroos gara Yesuusii dhikaatee, «Gootta'a, obboleessi kiyya yoo na yakke, yennaa meeqa araaramaaf? Yennaa torbaa?» jedheen.

²² Yesuus deebisee, «Ani haga yennaa torbaatamii torbaa[†] ti malee, haga yennaa torbaati si'iin hin jedhu.

²³ «Waan kanaaf mootummaan ol-gubba'aa mootii herrega hojjattoota isaa irra jiru herregatiisaaf barbaade tokko fakkaatti.

²⁴ Inni yennaa herreguu jalqabe, nama inni beenyaa beesee irraa qabu tokko itti fidane.

²⁵ Innille kaffaluu dadhabee jennaan, gootnaan isaa akka inni niitii ifii, ijoollee ifiitii fi waan qabu mara waliin gurguramee beenyaan kaffalamu ajaje.

²⁶ Maarre hojjataan sun miila isaatitti jigee, «Naa ossadhu, anille waan maraa sii hin kaffala» jedhee kadhate.

²⁷ Goottaalle isaaf nayee, beenyaa isaalle lakkiseefii, akka deemuuf gad lakkise.

²⁸ Hojjataan sun ammoo, akkuma gad bayeen, hojjatuma akka isaa meetii dhibba tokko beenyaa irraa qabutti bayee, hudheelle isa qabee, «Beenyaa kiyya naaf deebis» jedheen.

²⁹ Achiin duuba hojjataan akka isaa sun gad jigee, «Naa ossadhu, ani sii kaffala» jedhee isa magannifate.

³⁰ Inni ammoo dide; achiin duuba qabee dhaqee haga inni beenyaa isaa kaffalutti mana hidha'aatitti galchisiise.

³¹ Hojjattooti akka isaa worri dhibiin yennaa waan te'e kana dhaggane, guddoo gaddanee, waan te'e san mara gootaa isaaniititti himane.

³² Achiin duuba gootnaan isa waansisee, «Ati hojjataa hamaaleessa! Waan na magannifatteef ani beenyaa san mara sii lakkise.

³³ Akkuma ani si mararfadhe, atille hojjataa akka keetii mararfatu'uu hin mallee ree?» jedheen.

³⁴ Aari'iin gootnaan isaa haga inni beenyaa isa irra jiru mara kaffalutti worra isa rakkisutti dabarsee kenne.

[†] 18:22 Woraabbiin gariin «Yennaa torbaatama yennaa torba» jedha

³⁵ «Maarre isinille gadhaa tokkoon obboleessa keessaniif yoo hin araaramin, tokkoo tokkoo keessan Abbaan kiyya ka ol-gubbaa jirulle akkasuma hin godha» jedhe.

19

Yesuus Dhirsaa Fi Niitiin Akka Wol Hin Lakkinne Barsiise (Mar. 10:1-12)

¹ Yesuus yennaa dubbii tana dubbatee fixe, Galiilaa lakkisee laga Yordanosiitiin gama gara lafa Yihuda'aa dhaqe.

² Gumiin guddoon isa hordottee, innille achitti isaan fayyise.

³ Worri Fariisaayotaa gariin gara Yesuusii dhufanee, haga isa ilaali-isaaf barbaadane, «Nami tokko Sababuma fedheefuu haadha manaa ifii lakkisuun seeraa?» jedhane isa gaafatane.

⁴ Yesuus deebisee, «Waaqi jalqaba, «dhiiraa fi dubartii» tolchee akka isaan dade hin dubbinnee?» jedhe.

⁵ Itti dabaleelle, «Waan kanaaf nami haadhaa fi abbaa ifii hin lakkisa, haadha manaa ifiitiin wolitti maxxana; lamaanuu foon tokko hin te'an.

⁶ Maarre isaan haganaa achi foon tokko malee, lamaa moti. Tanaaf waan Waaqi wolitti qassiise nami gargar hin baasin» jedhe.

⁷ Fariisaayoti, «Abbaan manaa woraqata lakkeessaa kenneefii akka isii lakkisu, Muuseen maaf ajaje ree?» jedhaneen.

⁸ Yesuus deebisee, «Sababa mataa-jabeenna keessaniitiif Muuseen akka isin haadhotii manaa teessan lakkittanu isinii eeyyame malee, jalqaba irratti akkasii moti.

⁹ Anille isiniin jedha, yoo isiin gaarayyeeffatte malee, nami haadha manaa ifii lakkisee ta dhibii fuudhu, hin gaarayyeeffata*» isaaniin jedhe.

¹⁰ Barattooti isaa deebisane, «Wonni abbaa manaatii fi haadha manaa yoo akkas teete, fuudhuu dhabuu woyya» jedhaneen.

¹¹ Yesuus deebisee, «Worra kennanteef malee, barsiisa kana nami marti dande'ee hin fudhatu.

¹² Worri guneessa te'anee dhalatane jiran, worri harka namaatiin guneessa te'anelle jiran, worri mootummaa Waaqaatiif jedhane guneessa ifi godhaneelle jiran. Nami kana fudhatiisa dande'u fudhatuu ti» isaaniin jedhe.

Yesuus Ijoollee Didiqqoo Eebbise (Mar. 10:13-16; Luq. 18:15-17)

¹³ Achiin duuba akka Yesuus harka ifiitiin qaqqabee daadimatuuf ijoollee didiqqoo gara isaa fidane. Barattooti isaa ammoo worra ijoollee fide xixane;

¹⁴ Yesuus ammoo, «Mootummaan Waaqaa ta worra akkasii waan teeteef, ijoollee lakkisa'a, gara kiyya dhuttuutii hin dhooggina'a» jedhe.

¹⁵ Innille harka ifiitiin ijoollee qaqqabee achii ka'ee deeme.

Namicha Dargaggeessa Dureessa (Mar. 10:17-31; Luq. 18:18-30)

¹⁶ Achiin duuba namichi tokko gara Yesuusii dhufee, «Barsiisa'a, jiruu bara baraa dhaggatiisaaf, hujii dansaa maan hujuu qaba?» jedheen.

¹⁷ Yesuus deebisee, «Marroo hujii dansa'aa maaf na gaafatta? Dansaan Waaqa tokkocha qofa. Jiru'utti galiisaaf yoo feete, ajajoota Waaqaa ee-gadhu» jedheen.

* **19:9** Woraabbiin durii durii gariin, «Dubartii lakkifante ka fuudhelle hin gaarayyeeffata» ka jedhulle itti dabala **19:9** Mat. 5:32; 1 Qor. 7:10-11

¹⁸ Namichi dargaggeessi, «Ajajooti kam inni?» jedheen. Yesuus deebise, «Hin ijjeesin; hin gaarayyeeffatin; hin hatin; dharaan dhugaa hin bayin;

¹⁹ haadhaa fi abbaa keetiif ulfinna kenni; ammalle, ollaa keeti akka mataa keetii jaaladhu» ka jedhu» jedheen.

²⁰ Dargageessille deebisee, «Ani ajajoota kana eegadheera; ammaa wonni narraa dhidhateeru maan?» jedhe.

²¹ Yesuus deebisee, «Ka dhidhuu hin qanne te'uu yoo feete, dhaqii, waan qaddu mara gurgurii beesee hiyyeeyyi'ii kenni; ol-gubba'atti karra hin qabaatta; achiin duuba koyiitii, na hordofi» jedheen.

²² Dargaggeessi sun tana yennaa dhage'e, karra guddoo waan qabuuf, gaddaa achii deeme.

²³ Achiin duuba Yesuus barattoota ifitiin, «Ani dhuguma isinitti hima, nami dureessi mootummaa ol-gubba'aatitti galiisi guddoo rakkisa'a.

²⁴ Ammalle ani isinitti hima, nami dureessi tokko mootummaa Waaqaatitti galiisa irra gaalli qowa limmo'oo[†] keessa hulluuqiisatti irra kaso'o» jedhe.

²⁵ Barattooti isaa yennaa tana dhage'ane, guddoo maalalanee, «Eentu fayyuu dande'a ree?» jedhane.

²⁶ Yesuus ammoo gara isaanii ilaalee, «Wonni kun namaaf hin dande'antu, Waaqaaf ammoo wonni marti hin dande'anti» jedhe.

²⁷ Achiin duuba Pheexroos deebisee, «Ilaa, nuuti waan mara lakkinnee si hordonneerra. Nuuti maan dhaggatu'uu jirra ree?» jedhe.

²⁸ Yesuus deebisee, «Ani dhuguma isinitti hima, biyya lafaa haareya dhut-tutti, Ilmi Namaa barcumaa mootummaa ulfinna ifii gubbaa yennaa tee'u, isin worri na hordottanelle barcumaa mootummaa'aa kudhanii lama gubbaa teettanee, gosa Israa'elii kudhanii lamatti murtan.

²⁹ Nami naaf jedhee mana yookiin obboleessa yookiin obboleettii yookiin abbaa yookiin haadha yookiin ijoollee yookiin fichaa lakkise, dachaa dhibba hin fudhata; jiruu bara baralle hin dhaggata.

³⁰ Ammoo worri hedduun amma dura jiru worra duuba jiru hin te'a; worri duuba jirulle worra dura jiru hin te'a» isaaniiin jedhe.

20

Mammaassa Hojjattoota Fichaa Woyni'ii

¹ «Mootummaan ol-gubba'aa nama fichaa woyni'ii qabu, ka barii halkaniin addee woynii ifitiif hojjattoota qaxaru'uuf baye tokko fakkaatti.

² Beesee mindaa guyyaa tokkootiin hojjattootaan wolii galeen duuba, gara fichaa woynii ifititti isaan erge.

³ Gara saatii sadiititti inni yennaa gad bawu, worra dhibii addee dikko'oo hujii malee dhaabbatiisatti jiranu dhagge;

⁴ innille isaaniiin, «Isinille gara fichaa woyni'ii dhaqa'aa huja'a; anille kaffaltii malte isinii kaffala» jedheen.

⁵ Maarre isaanille dhaqane. Gara saatii jaatii fi gara saatii sagaliille'etti inni bayee akkasuma godhe.

⁶ Gara saatii kudhanii tokkoolle'etti inni bayee worra dhibii adaala san dhaabbateeruun dhaggee, «Guyyaa guutuu hujii malee maaf as dhaabbat-tan?» jedheen.

⁷ Isaanille, «Nama nu qaxaru waan dhanneef as dhaabbanna» jedhaneen. Inni, «Isinille gara fichaa woyni'ii dhaqa'aa huja'a» jedheen.

[†] 19:24 *Limmo'oo*: Limmee, marfee 19:30 Mat. 20:16; Luq. 13:30

⁸ Yennaa galgalootte, abbaan fichaa woyni'ii toowataa hojjattootaatiin, «Hojjattoota waamiitii, worra duubarra qaxarameen jalqabii haga worra dursee qaxameetitti, kaffaltii isaanii kenniif» jedheen.

⁹ Worri gara saatii kudhanii tokkootitti qaxaramane dhufanee, tokko tokkoon isaaniituu mindaa guyyaa tokkoo fudhatane.

¹⁰ Worri dursee qaxarama yennaa dhufe, isaan caalaa waan fudhatanu seyane; isaanille ammoo minduma guyyaa tokkoo fudhatane.

¹¹ Isaan yennaa beesee fudhatanelle, abbaa fichaa woyni'ii irratti gungumane,

¹² «Hojjattooti duubarra qaxaramane saatii tokko qofa hujane, ati ammoo nu worra adu'utti woxalamaa guyyaa guutuu dadhabaa oolle isaan woliin nu qixxeessite» jedhane.

¹³ Inni deebisee isaan keessaa tokkochaan, «Jaali, ani womaa si hin ballees-sine; ati guyya'atti mindaa guyyaa tokkootiin motii ka anaan wolii galte?

¹⁴ Kaffaltii teeti fudhadhuu deemi; haguma si'iif kenne namicha duubarra qaxarama kanaafille kenniisa fedha.

¹⁵ Beesee tiyyaan waan fedhe godhuu hin dande'uu? Yookiin ati waan ani arjoomeef hinaattaa?» jedhe» jedhe.

¹⁶ Achiin duuba Yesuus, «Worri duubaa dura, worri duraa duuba hin te'an*» jedhe.

*Yesuus Marroo Du'aa Fi Du'aa Ka'a Ifii Sadeessoo Dubbate
(Mar. 10:32-34; Luq. 18:31-34)*

¹⁷ Yesuus gara Yersaaleemii ol deemiisatti jiruun, barattoota kudhanii lamaa qofitti fuudhee,

¹⁸ «Kunoo, nuuti gara Yersaaleemii ol bayiisatti jirra, Ilmi Namaa sooreyyii hayyootaati fi barsiisota Seeraatitti dabarfamee hin kennama; isaanille yakkaa du'aa isatti muran.

¹⁹ Achiin duuba akka isaan itti taphatanee, dhaananee fannisanu worra Yihudoota hin te'initti dabarsanee isa hin kennan. Guyyaa sadeesso'ootitti du'aa hin ka'a» isaaniin jedhe.

*Gaaffii Haadha Ilmaan Zabdewoosii
(Mar. 10:35-45)*

²⁰ Achiin duuba haati ilmaan Zabdewoosii ilmaan ifii woliin gara Yesuusii dhuttee, isa duratti jilbiiffattee, waan tokko akka godhuuf isa gaafatte.

²¹ Innille isi'iin, «Ati maan barbaadda?» jedhe.

Isiille isaan, «Ilmaan tiyya lamaan tun mootummaa teeti keessatti tokkochi midda keetitti, tokkochi bitaa keetitti, akka tee'anuu naa godhi» jetteen.

²² Yesuus ammoo deebisee, «Isin waan gaafatanu hin beettanu. Isin muduunuu rakko'oo ta ani uniisa geyeeru unuu hin dandeettanii?†» isaaniin jedhe.

Isaanille, «Nuuti hin dandeenna» isaan jedhane.

²³ Innille, «Isin dhugumaan muduunuu rakko'oo ta ani unu hin untan, ammoo ka namoota midda kiyyaa fi bitaa kiyyatti teessisu anaa moti; addeen tun worra Abbaan kiyya isaanii qopheesseeruuf kennanti» isaaniin jedhe.

²⁴ Barattooti kudhan marroo waan kanaa yennaa dhage'ane, obboleeyyan lamaan sanitti aarane.

* **20:16** Woraabbiin durii durii gariin, «Worra heddu'utti waamame, ammoo worra diqqa'atti filame» ka jedhu itti dabala. **20:16** Mat. 19:30; Mar. 10:31; Luq. 13:30 † **20:22** Woraabbiin durii durii gariin, «Cuuphama ani cuuphamaaru isin cuuphamuu hin dandeettanii?» ka jedhu itti dabalani

²⁵ Yesuus ammoo gara ifii isaan waamee, «Bulchitooti worra Yihudoota hin te'inii kolbaa ifii irratti akka goottomanu, qondaaltoti isaaniille isaan irratti baallii guutuu akka qabanu isin hin beettan.

²⁶ Odduu teessanitti akkas hin teetu; eennulle isin keessaa nami guddaa te'uu fedhu tajaajilaa keessan te'uu ti;

²⁷ akkasuma eennulle isin keessaa nami nama namaan duraa te'uu fedhu garbicha keessan te'uu ti;

²⁸ Ilmi Namaalle tajaajiliisaa fi kolbaa heddu'uuf jiruu ifii wodoo godhee kenniisaaf dhufe malee, akka isa tajaajilanuuf hin dhunne» jedhe.

Yesuus Ballaa Lamaan Fayyise

(Mar. 10:46-52; Luq. 18:35-43)

²⁹ Yesuusii fi barattooti isaa Yeriko'oo bayanee deemanuun, gumiin guddoon Yesuus hordotte.

³⁰ Namooti ballaan lamaan achi karaa cinaa tetee'anee jiraniyyu. Akka Yesuus karaa san dabariisatti jiru yennaa dhage'ane, iyyanee, «Gootta'a, Ilma Daawitii, nuu marari!» jedhaa iyyane.

³¹ Gumiin akka isaan cadhisani xixxe; isaan ammoo ittuma caalchisanee qoonqoo guddoon, «Gootta'a, Ilma Daawitii, nuu marari!» jedhaa iyyane.

³² Yesuus dhaabbatee isaan waamee, «Maan akka ani isiniif godhu barbaaddan?» jedheen.

³³ Isaan deebisanee, «Gootta'a, ilti teenna akka banantu barbaanna» jedhaaneen.

³⁴ Yesuus isaanii nayee ila isaanii qaqqabe; yoosuma ilti isaanii banantee, isaan isa hordofane.

21

Yesuus Ulfinna Gudda'aan Yerusaalem Seene

(Mar. 11:1-11; Luq. 19:28-40; Yoh. 12:12-19)

¹ Yesuusii fi barattooti isaa yennaa Yerusaalemitti dhikaataneeranu, gaara Ejersaatitti, addee Betfaagee jedhantu geyaneeranuun, Yesuus barattoota lamaan ergee,

² «Gara ollaa isiniin dura jiruu dhaqa'a, yoosuma harree hidhanteertu takka, ta ilmayyoo woliin jirtu hin dhaggitan; hiika'aatii naa fida'a.

³ Eennulle yoo waan tokko isiniin jedhe, «Gootta'atti isaan barbaada, inni adoo hin turin hin deebisa» jedha'aan» isaaniin jedhe.

⁴ Wonni raagaan raage akka muummottuuf tun teete;

⁵ wonni raagaan raagelle,

«Qachaa Xiyooniitiin,

«Kunoo, mootiin keeti gad ifi qabee,

harre'ee fi ilmayyoo harre'ee irra tee'ee,

gara keeti dhufara» jedha'aan» ka jedhu.

⁶ Barattooti dhaqanee akkuma Yesuus isaan ajaje godhane;

⁷ Isaan harree sanii fi ilmayyoo harre'ee san fidane, woyaa ifii irra keyanee, innille irra tee'e.

⁸ Gumiin guddoon woyaa ifii karaa irratti atte; worri dhibiille dameelee baalaa muka irraa caccassanee karaa irratti firfirsane.

⁹ Gumiin isa dura deentuu fi isa faana deentu iyyitee,

«Hosaa'inaa* Ilma Daawitiitiif!

Maqaa Gootta'aatiin ka dhufu ka eebbifame!

Hosaa'inaa olii ol-gubba'aatitti!» jette.

* **21:9 Hosaa'inaa:** Hosaa'inaa jechuun, afaan Ibrootaatiin, «Maggane'ee nu fayyis» jechu'u; te'uu malee addee heddu'utti hiikkaa Waaqa galateeffatiisaalle qaba

¹⁰ Yesuus yennaa Yerusaaalem seene, qachaan duudiin raafamee, «Inni kun eennu?» jedhane.

¹¹ Gumiin isa woliin ideentu, «Kun Yesuusii raagicha qachaa Naaziretii ka lafa Galiila'aa keessatti dhaggamuu dhufe» jette.

Yesuus Galma Waaqaa Dhaqe

(Mar. 11:15-19; Luq. 19:45-48; Yoh. 2:13-22)

¹² Achiin Yesuus Galma Waaqaa seenee, worra Galma Waaqaa keessatti bitatuu fi gurguratu mara gad yaase; inni xarapheessaa worra beese jijji-iratuutii fi barcumaa worra saphaliisa gurguratu garagaggalchee,

¹³ «Manni kiyya mana daadimataa jedhamee hin waamama» jedhantee barreeffanteerti; isin ammoo goda saantu'uu gootane» isaaniin jedhe.

¹⁴ Naafii fi ballaan Galma Waaqaa keessatti gara Yesuusii dhufane; innille isaan fayyise.

¹⁵ Sooreyyiin hayyootaati fi barsiisoti Seeraa waan baasaa ka inni godhe yennaa dhagganee fi ijoollee Galma Waaqaa keessatti, «Hosaa'inaa Ilma Daawitiitiif» jedhaa iyyitu yennaa dhaggane aarane.

¹⁶ Tanaaf Yesuusiin, «Ati waan ijoolleen tun jettu dhageettaa?» jedhane.

Yesuus, «Ee hin dhage'a; isin ijjumaa, «Afaan ijoolle'eetii fi daa'immaan hootuutiin galata ifiif qopheeffatte» ka jedhu hin dubbinnee?» isaaniin jedhe.

¹⁷ Achiin duuba Yesuus isaan lakkisee, qachaa keessaa bayee, ollaa Bitaaniiyaa jedhamuu dhaqee achi bule.

Yesuus Muka Harru'uu Tokko Abaare

(Mar. 11:12-14,20-24)

¹⁸ Yesuus barii ganama, yennaa gara qacha'aa deebi'u beelote.

¹⁹ Muka harru'uu tokko karaa cina'atti dhaggee, yennaa itti gore baala malee womaa irratti hin dhaggine. Achiin duuba inni harru'uun, «Ijjumaa deebi'ee midhaan si irraa hin dhaggamin» jedheen. Yoosuma muki harru'uu sun goge.

²⁰ Barattooti yennaa muka harru'uu san dhaggane, baaseffatane, «Yoosuma muki harru'uu attam goge?» jedhane.

²¹ Yesuus deebisee, «Ani dhuguma isinitti hima, isin yoo dhugeeffannaa qabaattane, mamuulle yoo dhaddane, waan muka harru'uu irratti te'e qofaa hin gootanu; isin gaara kanalle'een, «Asii ka'ii abbaaya'atti darbami» yoo jettanneeyyuu, hin teeti.

²² Dhugeeffanna'aan daadimattanee waan gaafattanu mara, hin fudhatan» isaaniin jedhe.

Gaaffii Marroo Baallii Yesuusii

(Mar. 11:27-33; Luq. 20:1-8)

²³ Yesuus yennaa Galma Waaqaa seenee adoo barsiisiisatti jiruu, sooreyyiin hayyootaati fi jaarsoleen kolba'aa gara isaa dhufanee, «Ati baallii maaniitiin waan kana goota? Baallii tana eentu sii kenne?» jedhaneen.

²⁴ Yesuus deebisee, «Anille gaaffii tokko isin gaafadha; isin yoo deebii naa deebittane, achiin duuba anille baallii maaniitiin waan kana akka godhu isinitti hima.

²⁵ Cuuphaan Yohaannis cuuphe Waaqa irraa dhutte moo, yookiin nama irraa dhutte?» isaaniin jedhe.

Isaanille wol mormanee, ««Waaqa irraa dhutte» yoo jenne, inni, «Isin maaf isa hin dhugeeffatinaa ree?» nuun jedha;

²⁶ Ammoo yoo nuuti, «Nama irraa» jenne, martinuu akka raaga'aatitti waan Yohaannis fudhatanuuf, kolbaa sodaanna» jedhane.

²⁷ Maarre isaan deebisane, «Nuuti hin beennu» Yesuusiin jedhane.
Yesuusille, «Baallii maaniitiin waan kana akka godhu anille isinitti hin himu» isaaniin jedhe.

Mammaaassa Ilmaan Lamaa

²⁸ Yesuus isaaniin, «Maan isinitti fakkaata? Nami tokko ijoollee lama qabaayyu; inni gara angafichaa dhagee, «Ilma kiyya, adha addee woyni'ii dhaqii huji» jedheen.

²⁹ Inni deebisee, «Ani hin dhaqu» jedhe; eegas ammoo yaada jijjiiratee dhagee.

³⁰ Abbaan gara ilma lammeesso'oolle dhagee akkasuma jedhe; ilmi, «Hin dhaqa, abbayyoo!» jedhe; ammoo hin dhandhe.

³¹ Isaan lamaan kana keessaa kamitti waan abbaan barbaade tolche?» jedheen.

Isaan, «Angaficha» jedhane.

Yesuus, «Ani dhugumaan isinitti hima, worri dabaan qaraxa guuruu fi sagaagaltooti mootummaa Waaqaatitti galiisa isin dursan.

³² Yohaannisiin cuuphaan karaa balchumma'aa isinitti dhufee jennaan isin isa hin dhugeeffanne; worri dabaan qaraxa guuruu fi sagaagaltooti ammoo isa dhugeeffatane; isin eeguma kana dhaggitanelle, yaada keessan jijjiirattanee isa hin dhugeeffanne» isaaniin jedhe.

Mammaaassa Qonnaan Buloota Fichaa Woyni'ii

(Mar. 12:1-12; Luq. 20:9-19)

³³ Yesuus ammalle, «Mammaaassa dhibii dhage'a'a! Namichi tokko muka woyni'ii dhaabee, dalleya itti marsee ijaaree, boolla midhaan isi'ii itti cunfu qotee, xelleephoo irra tee'anee eeganu ijaare. Achiin duuba inni qonnaan bulootaaf kireessee, gara biyya dhibi'ii deeme.

³⁴ Yennaan midhaan woyni'ii guuranu geennaan, inni gooda midhaan ifii fudhatiisaaf tajaajiltoota ifii gara qonnaan buloota sanii erge.

³⁵ Qonnaan bulooti sun ammoo tajaajiltoota isaa qabane, tokko dhaanane, kaan ijjeesane, kaanille dhaka'aan tumane.

³⁶ Inni ammalle tajaajiltoota worra qaraa laakkossaan caalanu ka dhibii itti erge; isaan akkuma worra duraa kaan isaan godhane.

³⁷ Dhuma irratti inni, «Isaan ilma kiyya hin ulfeessan» jedhaa ilma ifii gara isaanii erge.

³⁸ Qonnaan bulooti ammoo yennaa ilma san dhaggane, «Ka dhaalu kana; kowa'a, isa ijjeennee dhaala isaa fudhannaa» woliin jedhane.

³⁹ Maarre isaan isa qabane, addee woyni'itii alatti darbanee baasane ijjeesane.

⁴⁰ Amma abbaan addee woyni'ii yennaa dhufe, qonnaan buloota san maan godhinna laati?» isaaniin jedhe.

⁴¹ Isaan deebisane, «Inni worra hamaaleyyii san du'a farraamettii hin ijjeesa. Addee woyni'iille qonnaan buloota worra yennaa midhaan woyni'ii guuramu gooda isaaf kennuuf kireessa» jedhane.

⁴² Yesuus, «Isin Barreeffama Woyyicha keessatti,

«Dhakaan worri mana ijaaru tuffate,

dhakaa dhakaa maraa caalaa barbaadamu te'e;

tana Gootta'atti godhe,

ila teennalle'etti waan baasaa ti!» ka jedhu ijjumaa hin dubbinnee?

⁴³ «Tanaaf, ani isinitti hima, mootummaan Waaqaa isin irraa fuudhantee kolbaa midhaan buuttuuf hin kennanti. [

⁴⁴ Nami dhakaa kana irratti jigu hin caccaba; Nami dhakaan kun irratti jigu ammoo hin bututa» isaaniin jedhe.]†

⁴⁵ Sooreyyii hayyootaatii fi Fariisaayoti yennaa mammaassa isaa dhage'ane, akka inni marroo isaanii dubbatiisatti jiru beekane.

⁴⁶ Isaan isa qabiisaaf barbaadane, ammoo waan gumiin akka raaga'aatitti Yesuus fudhatteef, isaan sodaatane.

22

Mammaassa Jila Fuudhaa Fi Heerumaa

(Luq. 14:15-24)

¹ Yesuus ammalle mammaasaan isaanitti dubbatee,

² «Mootummaan Waaqaa mooticha tokko ka ilma ifitiif jila fuudhaa fi heerumaa jilise fakkaatti.

³ Worri gara jila fuudhaa fi heerumaa waamame akka dhufu itti himiisaaf, Mootichi tajaajiltoota ifii erge; isaan ammoo hin dhunne.

⁴ Inni ammalle tajaajiltoota dhibii ergee, «Worra waamameeruun: Kunoo, jila tiyya ta fuudhaa fi heerumaa qopheesseera, sangootaa fi dardarooti cocooma qalamaneeran, wonni martille qophootteerti; gara jila fuudhaa fi heerumaa kowa'a jedha'aatii itti hima'a» jedhe.

⁵ Worri waamame ammoo tuffatee, tokko gara fichaa ifii, kuun gara daldala ifii deeme;

⁶ worri kuun tajaajiltoota isaa qabee, akka malee tolchee, ijjeese.

⁷ Mootichi guddoo aaree, loltoota ifii ergee, worra tajaajiltoota isaa ijjeese san balleessee, qachaa isaaniille gube.

⁸ Achiin duuba inni tajaajiltoota ifitiin, «Jilti fuudhaa fi heerumaa qophootteerti, worri waamame ammoo ka jila tanaaf male hin teene.

⁹ Tanaaf gara woldeennaa karaa gugurda'aa dhaqa'aatii, namuma dhaggitane mara gara jila fuudhaa fi heeruma tanaa waama'a!» jedhe.

¹⁰ Tajaajiltooti sun gara karaa gugurda'aa bayanee nama dhaggane mara bada'aa fi dansaalle guurane; maarre manni jila fuudhaa fi heerumaa sun keessummootaan guutame.

¹¹ «Mootichi keessumoota ilaaliisaaf yennaa ol seene ammoo, nama woyaa jila fuudhaa fi heerumaa hin uffatin tokko dhagge.

¹² Namichaan, «Jaali, woyaa jila fuudhaa fi heerumaa malee attamiin mana seente?» jedheen. Namichi waan dubbatu dhabe.

¹³ Achiin duuba mootichi worra achi keessa ergamuun, «Harkaa fi miila isaa hidha'aatii, dukkana alaatiitti gata'a. Achitti ilkaan qariisaa fi bowiis hin te'a» jedhe.

¹⁴ Worri waamame heddu'u, worri filame ammoo diqqa'a» jedhe.

Gaaffii Marroo Kaffaliisa Gibiraa

(Mar. 12:13-17; Luq. 20:20-26)

¹⁵ Achiin duuba worri Fariisaayotaa dhaqanee waanuma inni dubbateen Yesuus xaqaru'uuf mari'atane.

¹⁶ Maarre isaan barattoota ifii golii Heroodisii waliin gara isaa erganee, «Barsiisa'a, akka ati dhugaamessaa nuuti hin beenna; karaa Waaqaa dhugumaan barsiitta, ati nama hin sodaattu, nama tokkolle wol hin caalchittu.

¹⁷ Maan sitti fakkaata? Mootii moototaa biyya Rooma'aatiif gibira kafaluun seera moo seeraa moti? Nutti himi ree!» jedhaneen.

† 21:44 Woraabbiin durii durii gariin laakkossa 44 hin qabanu

¹⁸ Yesuus ammoo, hammeenna isaanii beekke, «Isin kijiboole'e! Maaf haga na ilaaltan?

¹⁹ Beesee ittiin gabbartanu me natti mudhisa'a?» jedhe. Isaanille beesee* san takka itti fidane.

²⁰ Achiin duuba inni, «Fakki'ii fi maqaan kun ka eennuu ti?» jedhee isaan gaafate.

²¹ Isaan deebisane, «Ka mootii mootota biyya Rooma'aa ti» jedhaneen. Achiin duuba inni, «Tanaaf, waan mootii moototaa mootii moototaatiif, waan Waaqaalle Waaqaaf kenna'a» isaaniin jedhe.

²² Isaan yennaa waan kana dhage'ane baaseffatane, isa lakkisane deemanee.

Gaaffii Marroo Du'aa Ka'iisaa
(Mar. 12:18-27; Luq. 20:27-40)

²³ Gaafasuma Saduqooti, worri du'aa ka'iis hin jiru jedhu, gara Yesuusii dhufanee,

²⁴ «Barsiisa'a, Muuseen, «Nami tokko adoo hin uumatin yoo du'e, obboleessi isaa niitii obboleessa du'ee san dhaalee, sanyii obboleessa ifitiif dabarsuu ti» jedheera.

²⁵ Amma obboleeyyan torba tokkotti odduu teenna jiraayyu; angafichi fuudhee, ijoollee adoo hin uumatin irraa du'e; tanaaf obboleessi isaa haadha hiyyeessaa san dhaale.

²⁶ Ka lammeesso'oolle, ka sadeesso'oolle, haga torbeesso'ootitti isuma dhaalanee ijoollee adoo hin uumatin irraa du'ane.

²⁷ Mara isaaniitiin duuba, isiille duute.

²⁸ Gaafa worri du'ane ka'anuu, marti isaaniituu waan isii fuudhaneeranuuf, isaan torba keessaa isiin kamiif niitii teeti?» jedhane isa gaafatane.

²⁹ Yesuus deebisee, «Barreeffama Woyyichaa fi hunna Waaqaa waan hin beenneef, isin hin dokonkortan.

³⁰ Yennaa worri du'ane ka'anuu, isaan ol-gubba'atti akka ergantoota Waaqaa te'an malee, hin fuudhanu, hin heerumanu.

³¹ Marroo worra du'aa ka'iisa worra du'ee, waan Waaqi isiniin jedhe isin hin dubbinnee?

³² Inni, «Ani Waaqa Abrahaamii, Waaqa Yisihaqii, Waaqa Yaaqoobii ti» jedheera. Inni Waaqa worra jiraata'aa ti malee, Waaqa worra du'aatii moti» isaaniin jedhe.

³³ Gumiin yennaa tana dhageette, barsiisa isaa baaseffatte.

Ajaja Guddicha
(Mar. 12:28-34; Luq. 10:25-28)

³⁴ Yesuus worra Saduqootaa akka cadhisiise yennaa dhage'ane, worri Fariisaayotaa wolitti dacha'ane.

³⁵ Isaan keessaalle'ee, barsiisaan Seeraa tokko, Yesuus haga ilaaliisaaf,

³⁶ «Barsiisa'a, Seera keessaa ajaji guddichi kam?» jedhee isa gaafate.

³⁷ Yesuus deebisee, « «Waaqa Goottaa keeti, gadhaa keeti tokkochaan, lubbuu teeti takkatti'ii, qalbii teeti takkatti'ii jaaladhu».

³⁸ Ajaji guddichi duraa isaa kana.

³⁹ Lammeessoolle isuma fakkaata: «Ollaa keeti akka mataa keetii jaaladhu».

⁴⁰ Ajaja lamaan kana irratti Seerri Muuse'eetii fi barsiisi raagotaa marti hundeeffamaneeran» jedhe.

* **22:19** Beesee: Kitaab Giriikii dinaara jedha **22:22** HuE. 23:8

Gaaffii Marroo Masiihii
(Mar. 12:35-37; Luq. 20:41-44)

- ⁴¹ Fariisaayoti wolitti dacha'aneeranuun, Yesuus,
⁴² «Marroo Masiihii maan isinitti fakkaata? Inni ilma eennuu ti?» jedhee isaan gaafate.
 Isaan, «Ilma Daawitii ti» jedhaneen.
⁴³ Yesuus, «Attamiin Daawiti hunna Ayyaana Woyyichaatiin sooreffamee <Goottaa> jedhaa isa waamaa,
⁴⁴ «<Waaqi Goottaa kiyyaan, haga ani diinota keeti miila keeti jala si'iif galchutti, Midda kiyyatti tee'i» jedheen ree?
⁴⁵ Daawiti yoo, <Goottaa> jedhee isa waame, Masiihiin attamiin ilma isaa te'uu dande'a?» isaaniin jedhe.
⁴⁶ Nami tokkolle deebii isaaf deebisuu hin dandeenne. Guyyaa sanii jalqabee nami tokkolle gaaffii tokkolle isa gaafatiisaaf itti hin gamne.

23

Hammeenna Barsiisota Seera Muuse'eetii Fi Fariisaayotaa
(Mar. 12:38-39; Luq. 11:43-46; 20:45-46)

- ¹ Achiin duuba Yesuus gumi'ii fi barattoota ifititti dubbatee,
² «Barsiisoti Seera Muuse'eetii fi Fariisaayoti barcumaa Muuse'ee irra te'aneeran.
³ Maarre waan isaan isin barsiisanu godha'a, hordofa'alle'e; te'uu male, isaan waan barsiisanu waan hujii irra hin oolchineef, akka isaan hujanu hin hujina'a.
⁴ Isaan ba'aa ulfaattuu, ba'atiisaaf hin dande'ane hidhane gurmuu worra dhibi'ii irra keyan; ifiif ammoo quballe'een tuquu hin fedhanu.
⁵ Isaan hujii ifii mara worri dhibiin akka isaan dhaggu hujan; qudhaama Jechooti Barreeffama Woyyicha keessa jiru, ka addaa fi irree ifii irratti hidhatanu babadhisane qudhaammatan; handaara woyaa uffatane daadimatanuu dheereffatan.
⁶ Lafa jilaattitti addee ulfinnaa, Mana Waaqonfannaa Yihudootaa keessatti barcumaa duraa,
⁷ addee dikko'oolle'etti nageya ulfinnaa akka isaan fuudhanuu fi kolbaan <Barsiisa'a> jettee akka isaan waantu jaalatan.
⁸ Isin barsiisaa tokko waan qaddanuu fi isin martinuu obboleeyyan waan teetaneef <Barsiisa'a> jedhantane hin waamamina'a.
⁹ Isin Abbaa tokkocha ol-gubba'atti waan qaddanuuf, biyya lafaa irratti eennulle'een <Abbaa> jettanee hin waamina'a.
¹⁰ Sooressi keessan Kiristoos tokkocha waan te'eef, <Sooressa> jedhantane hin waamamina'a.
¹¹ Odduu teessanitti isin mara ka caalu tajaajilaa keessan te'uu ti.
¹² Nami ol ifi qabu gad hin qabama, nami gad ifi qabu ol hin qabama» jedhe.

Yesuus Kijiba Isaaniitiif Yakkaa Itti Mure
(Mar. 12:40; Luq. 11:39-42,44,52; 20:47)

- ¹³ Yesuus, «Barsiisota Seera Muuse'eetii fi Fariisaayota kijiboole'e! Isin balbala mootummaa ol-gubba'aa kolbaa duratti cuttanuuf, isiniif aanne'e! Isin ifiif hin galtanu, worra galiisaaf barbaadulle, hin dhooggitan. [

14 Barsiisota Seeraatii fi Fariisaayota kijiboole'e! Isiniif aanne'e! Isin mana haadhotii hiyyeessaa sossiisaaf jettanee itti aalatiisaaf dheeressitanee daadimattan; tanaaf yakkaa guddo'otti isinitti murama.]*

15 «Barsiisota Seera Muuse'eetii fi Fariisaayota kijiboole'e! Isiniif aanne'e! Nama tokko dhugeeffannaa Yihudootaa fudhachiisiisaaf abbaaya'aa fi lafa irra asii fi achi deddeentan, isin nama fudhate san dachaa lama isin caalaa ilma qile'ee isa gootan.

16 «Sooreyyii balloota, isiniif aanne'e! Isin, «Nami tokko yoo Galma Waaqaatiin kakate, kakuun sun isa hin geettu, nami tokko yoo worqii Galma Waaqaatiin kakate, kakuun sun isa geetti» jettan.

17 Isin gowwoota balla'a! Worqi'i moo Galma Waaqaa ka worqii woyyoon-sutti caala?

18 Isin, «Nami yoo addee ciinca'aatiin kakate, kakuun sun isa hin geettu; ammoo yoo nami kennansa addee ciinca'aa irra jiruun kakate, kakuun sun isa geetti» jettan.

19 Isin ballaa attamiiti! Kennansa moo addee ciinca'aa ta kennansa woyyoonsitutti caala?

20 Maarre nami addee ciinca'aatiin kakatu marti, addee ciinca'aatii fi waan isii irra jiru maraan kakata;

21 nami Galma Waaqaatiin kakatulle, Galma Waaqaatii fi Waaqa achi keessa jiruun kakata;

22 nami ol-gubba'aan kakatulle, barcumaa Waaqaatii fi ka barcumaa san irra tee'eeruun kakata.

23 «Barsiisota Seeraatii fi Fariisaayota kijiboole'e! Isinii aanne'e! Isin baala uddowaa adda addaa, waan akka bassobila'aa, dinbilaalaatii fi onkooshe'e†, kudhan keessaa tokko Waaqaaf hin kennitan, ammoo barsiisa Seeraa ka irra caalaa barbaachisu, waan akka muraa dhuga'aa, mararti'ii fi addatamaa lakkittaneertan. Isin waan saniille adoo hin lakkisin, wonni kun waan isin godhu'uuf maltane.

24 Isin sooreyyii balloota! Isin bookee waan untanu keessaa dhimbiiddanee baachan, gaala ammoo hin liqinsitan.

25 «Barsiisota Seeraatii fi Fariisaayotaa kijiboole'e! Isiniif aanne'e! Mudunu'uu fi qorii dudda gubbaa qulqulleessitan, keessi ammoo joljolumma'aa fi ifi-jaallatiisaan guutameera.

26 Fariisaayicha balla'a! Dursiitii muduunuu keessa qulqulleessi‡, yennaa san duddi gubbaalle qulqulluu te'a.

27 «Barsiisota Seeraatii fi Fariisaayota kijiboole'e! Isin gubba'aan dansa'a, keessaan ammoo akka irreensa biyyee adi'iin hallamee, lafeelee nama du'eetii fi waan battii maraan guutamee ti.

28 Akkasuma isinille gubba'aan worra dhibi'itti balchoota fakkaattan, ammoo keessi keessan kijibaa fi cubbu'uun guutameera.

Yesuus Marroo Adabama Isaanii Dubbate
(Luq. 11:47-51)

29 «Barsiisota Seeraatii fi Fariisaayota kijiboole'e! Isiniif aanne'e! Isin irreensa raagotaa ijaartan; soodduu balchootaalle hin seettan.

30 Isin, «Bara abbootii teennaa adoo jiraannee, nuuti dhiiga raagotaa jissiisa isaaniille hin qarqaarruuyyu» jettan.

31 Akkasiin isin ilmaan worra raagota ijjeesee akka teetane ifi irratti dhugaa baatan.

* 23:14 Barreeffam durii durii gariin laakkossa 14 hin qabanu † 23:23 Onkooshe'e: Okoshee
‡ 23:26 Woraabbiin durii durii gariin qoriille itti dabala

³² Waan abbootiin teessan jalqadde, ittuma guuta'aa fixaa ree!

³³ Isin dhudhuufa'a, isin ijoollee buuti'ii ti! Muraa qile'ee jalaa attamiin baatan ree?

³⁴ Tanaaf ani raagota, qaroole'ee fi barsiisota isinii erga; isin isaan keessaa garii hin ijeettan, kaan hin fannittan, worra dhibii mana Yihudooti itti wolitti qabamanu keessatti dhaantanee qachaa irraa gara qacha'aa ariitan.

³⁵ Maarre tanaaf isin dhiiga balchootaa ka lafa irratti jissitane, dhiiga Abeelii balchichaa irraa jalqabee, haga dhiiga Zakaariyaasii ilma Baaraakiya'aa, ka addee ciinca'aatii fi Galma Waaqaa oddu'utti ijeetta-neetitti itti gaafatantan.

³⁶ Ani dhugumaan isinitti hima, adabam waan kana maraa dhaloota kanatti hin dhufa» isaaniin jedhe.

Yesuus Yersaalemiif Gadde

(Luq. 13:34-35)

³⁷ Yesuus ammalle, «E! Yersaalem, Yersaalem, qachaa raagota ijeettuu fi worra gara keeti ergame dhaka'aan tuntu! Akka lukkuun cuucotii ifii koola ifii jalatti wolitti qabattu, anille ijoollee teeti wolitti qabiisaaf yennaa meeqa barbaade; isin ammoo diddane.

³⁸ Kunoo, manni keessan ona te'ee hafe.

³⁹ Ani isinitti hima, «Ka maqaa Goota'aatiin dhufu, ka eebbifame» haga jettanutti deebitanee na hin dhaggitanu» jedhe.

24

Yesuus Diigamiisa Galma Waaqaa Dubbate

(Mar. 13:1-2; Luq. 21:5-6)

¹ Yesuus Galma Waaqaatii bayee adoo deemiisatti jiruu, barattooti isaa ijaarsa Galma Waaqaa isatti mudhisiisaaf dhufane.

² Achiin duuba inni, «Isin waan kana mara hin dhaggitanii motii? Ani dhugaa isinitti hima, dhakaan tokkochi wol irratti hin hafu; isaan maraa hin diigaman» jedhe.

Rakkinnaa Fi Miidhaa Dhufa Goota'aatiin Duratti Te'u

(Mar. 13:3-13; Luq. 21:7-19)

³ Yesuus gaara ejersaa gubbaa tee'iisatti jiruun, barattooti isaa qofuu gara isaa dhufanee, «Nutti himi, kun yoom te'a, dhufa teetii fi dhuma biyyaa lafaatiif beessisi maan?» jedhane.

⁴ Yesuus deebisee, «Eennulle akka isin hin dokonkorsine ifi eeggadha'a!

⁵ Worri hedduun, «Ani Masiihii» jedhaa maqaa kiyyaan hin dhufan. Worra hedduulle hin dokonkorsan.

⁶ Woraanaa fi oduu woraanaa hin dhageettan; akka hin rifanne ilaalladha'a; wonni akkasii kun te'uu qaban, ammoo ammalle muummeen hin geenne.

⁷ Gosi gosatti, mootummaalle mootumma'atti hin kaati; beellii fi tacho'i lafaa addee adde'etti hin te'an.

⁸ Kun marti ammoo ciniinsuu jalqabaa ti.

⁹ «Achiin duuba isaan akka rakkattanuu fi ijeefantanu dabarsanee isin hin kennan, sababa maqaa kiyyaatiif gosa maraan hin jibbatantan.

¹⁰ Yennaa san namooti hedduun dhugeeffannaa irraa hin jigan, isaan wol dabarsanee hin kennan, wolille hin jibban.

¹¹ Raagoti dharaa hedduulle hin ka'an, worra hedduulle hin dokonkorsan.

¹² Waan hammeenni fakkanuuf, jaalalli nama heddu'uu qabbanowaa deema.

¹³ Nami haga muumme'ee ciniinnatee ossatu ammoo hin fayya.

¹⁴ Gosa maraaf dhugaa baya akka teetu, Oduun Gammadaa ta mootum-maa Waaqaa, biyya lafaa maratti hin lallabanti. Achiin duuballe muummeen hin dhutti» jedhe.

Farra Badi'ii

(Mar. 13:14-23; Luq. 21:20-24)

¹⁵ Yesuus itti dabalee, «Akkuma raagaan Daani'el dubbate, «Farra badi'ii» addee woyyittii dhaabbattuun yennaa dhaggitanu, ka kana dubbisu hubatuu ti!

¹⁶ Yennaa san worri biyyaa Yihuda'aa keessa jiru gara gaarotaa baqatuu ti.

¹⁷ Nami heellichoo manaa gubbaa jiru waan mana keessaa fudhatiisaaf gad hin bu'in.

¹⁸ Nami fichaa keessa jiru woyaa fudhatiisaaf gara manaa hin deebi'in.

¹⁹ Guyyoota san dubartoota ulfaatii fi hoosisaatiif aanne'e!

²⁰ Baqi keessan ganna yookiin guyyaa Sanbataa akka hin teene daadi-madha'a!

²¹ Yennaa san rakkinni guddaan hin te'a, rakkinni akkasii haga biyyi lafaa dadanteen jalqabee haga ammaatitti te'ee hin beeku, ijjumaa deebi'eelle hin te'u.

²² Guyyooti sun adoo gabaabbatuu dhabaatee, nami tokkooyyuu silaa hin fayyuuyyuu; sababa worra filameetiif ammoo guyyooti sun hin gabaabbatan.

²³ «Eennuulle isiniin «Kunoo! Masiihiin as jira!» yookiin, «Inni achi jira!» yoo jedhe itti hin dhugeeffatina'a.

²⁴ Masiihooti dharaatii fi raagoti dharaa hin ka'an; isaan yoo dande'ane, kolbaa Waaqi filateeyyuu, dokonkorsiisaaf baasaa fi bilbaasa hin hujan.

²⁵ Kunoo ani duraan dursee tana isinitti himeera.

²⁶ Maarre isaan, «Kunoo! Inni lafa goomole'ee keessa jira» yoo isiniin jedhane gad hin bayina'a; yookiin, «Kunoo! Inni kolloo keessa jira» yoo isiniin jedhane hin dhugeeffatina'a.

²⁷ Akkuma balaqqeettiin gara baya-adu'uutitti balaqqittee haga gara seensa-adu'uutitti issitu, dhufiis Ilma Namaalle akkasuma hin te'a.

²⁸ Addee reefi jirutti allaattiin yaati» jedhe.

Dhufiisa Ilma Namaa

(Mar. 13:24-27; Luq. 21:25-28)

²⁹ Yesuus itti dabalee, «Guyyoota rakkinnaa saniin duuba yoosuma aduun hin dukkanootti, jiinille ifa ifii hin kennu; urjooti ol-gubbaa irraa harcaati, hunni ol-gubba'aalle hin raafanti.

³⁰ Achiin duuba beessisi Ilma Namaa ol-gubba'atti hin mudhata, yennaa san gosi biyya lafaa marti hin bootti; Ilmi Namaa duumensa gubba'aatiin hunnaa fi ulfinna gudda'aan dhufuun hin dhaggan.

³¹ Inni ergantoota ifii qoonqoo tultullaa gudda'aa woliin hin erga. Isaanille maddii arfan lafaa dhaqanee, worra Waaqaaf filame ka qaccee ol-gubba'aatii haga qaccee taanii jiru wolitti qaban» jedhe.

Barumsa Muka Harru'uu

(Mar. 13:28-31; Luq. 21:29-33)

³² Yesuus ammalle, «Muka harru'uu irraa barumsa baradha'a! Yennaa dameeleen isi'ii quunxituu fi baala baattu, bonni akka dhikaate beettan.

³³ Maarre akkasuma, waan kana mara yennaa dhaggitane akka Ilmi Namaa balbalatti dhikaate beeka'a.

³⁴ Ani dhugumaan isinitti hima, wonni kun marti haga teetutti dhalooti kun hin dabaru.

³⁵ Lafaa fi ol-gubbaan hin dabaran, jechi kiyya ammoo hin dabaru» jedhe.

Guyyaa Sanii Fi Yennaa San Eennulle Hin Beeku

(Mar. 13:32-37; Luq. 17:26-30,34-36)

³⁶ Yesuus itti dabalee, «Marroo guyyaa saniitii fi saatii sanii Abbaa malee, ergantooti Waaqaa ta ol-gubba'aalle, ilmille, eennulle hin beeku.

³⁷ Akkuma bara Nohiititti te'e, dhufi Ilma Namaalle akkasuma hin te'a.

³⁸ Bara san bisaan badi'iitiin dura, haga Nohi hoboloo guddittii seenetti, namooti nyaataa, unaa, fuudhaa, heerumaalle turane;

³⁹ haga bisaan badi'ii dhufee mara isaanii haree deemetti isaan womaa hin beenne. Maarre dhufiis Ilma Namaalle akkasuma hin te'a.

⁴⁰ Yennaa san nami lamaan fichaa keessa hin hujata; tokkochi hin fudhatama, tokkochi hin hafa.

⁴¹ Dubartooti lamaan woliin daakuu daakan; takkattiin hin fudhatanti, takkattiin hin hatti.

⁴² Tanaaf, guyyaa Gootaan keessan dhufu waan hin beenneef, dammaqa'aa eegadha'a.

⁴³ Waan kana ammoo hubadha'a: abbaan manaa halkan keessa yennaa hattuun itti dhuttu adoo beekke, inni silaa dammaqee hin eegataayyu, manni isaa akka cabu itti hin lakkisuuyyu.

⁴⁴ Tanaaf Ilmi Namaalle yennaa isin itti hin yaadanetti waan dhufuuf, maarre isinille qophowa'aa le'a'a» jedhe.

Tajaajilaa Addatama'aa Fi Hin Addatanne

(Luq. 12:41-48)

⁴⁵ Yesuus itti dabalee, «Tajaajilaan addatama'aa fi qaroona, ka gootnaan isaa akka inni tajaajiltoota isaatiif sagalee yenna'aan kennuuf, maatii ifii irratti itti gaafatamaa godhu kam ree?

⁴⁶ Tajaajilaan gootnaan isaa yennaa deebi'u hujiisumatti jiruun dhaggu sun ka badhaadhe.

⁴⁷ Ani dhugumaan isinitti hima, gootnaan isaa qabeenna ifii mara irratti itti gaafatamaa isa godha.

⁴⁸ Tajaajilaan hamaan sun ammoo yaada ifii keessatti, «Gootaan kiyya hin tura» yoo jedhee,

⁴⁹ tajaajiltoota dhibii dhaaniisa, worra machowanu woliin nyaatiisaa fi uniisa yoo jalqabe,

⁵⁰ gootnaan tajaajilaa sanii guyyaa inni isa itti hin yaadane fi yennaa inni hin beennetti hin dhufa.

⁵¹ Inni tajaajilaa san hin ciccira qooda isaalle worra kijiboolee woliin godha, achitti bowaa ilkaan qara» jedhe.

25

Mammaassa Durroota Kudhanii

¹ Yesuus itti aansee, «Yennaa san mootummaan ol-gubba'aa durroota kudhan ta issaa ifii qabatane waajibicha fudhatiisaaf bayane fakkaatti.

² Durroota san keessaa shanan gowwoole'e, shanan qaroole'e.

³ Worri gowwooleen issaa ifii qabatane malee zayitii issa'atti naqatanu hin qabanne.

⁴ Worri qarooleen ammoo issaa ifii woliin zayitii okkote'etti qabatane.

⁵ Waajibichi adoo hin dhufin turraan, marti isaaniituu muganee rafane.

⁶ «Halkan wodhakkaa ammoo qoonqoo guddoon, «Waajibichi Kunoo ti! Isa fudhatiisaaf baya'a!» waamichi jedhu dhage'ame.

⁷ Yennaa san durrooti sun marti dammaxxee issaa ifii mimmidhaaffatte.

⁸ Durri gowwooleen sun worra qaroole'een, «Issaan keenna waan dhaa-maaruu, zayitii teessan irraa diqqoo nuu kenna'a» jedhaneen.

⁹ Durri qarooleen deebisane, «Waawwo'o! Nu'uu fi isiniif ta geettu hin jirtu. Worra gurguru bira dhaqa'aatii bitadha'a» jedhaneen.

¹⁰ Adoo isaan bitatiisaaf dhaqaneeranuu, waajibichi dhufe; durri qophoot-teertu sun isa woliin gara mana jila fuudhaa fi heerumaa san ol seenanee, balbalti cufante.

¹¹ «Durrooti worri hafanelle turanee dhufanee, «Gootta'a, Gootta'a! Nu bani!» jedhaneen.

¹² Inni ammoo deebisee, «Ani dhugumaan isinitti hima, ani isin hin beeku» jedheen.

¹³ Tanaaf, guyyaa san yookiin saatii waan hin beenneef dammaqa'aa eegadha'a!» jedhe.

*Mammaassa Worra Beeseen Worqi'ii Itti Kennantee
(Luq. 19:11-27)*

¹⁴ Yesuus itti dabalee, «Mootummaan ol-gubba'aa akka nama biyya fago'oo dhaqiisaaf ka'ee, tajaajiltoota ifii waamee, karra qabu magannee isaanitti kennate tokko fakkaatti;

¹⁵ Inni akkuma dandeettii isaaniititti tokkoof beese saantimii worqi'ii kuma shan, kaaniif kuma lama, kaanille'eef kuma tokko kennee gara biyya fago'oo deeme.

¹⁶ Namichi beese saantimii worqi'ii kuma shan fudhate yoosuma ittiin daddallee, beese saantimii worqi'ii kuma shan keessaa buufate.

¹⁷ Akkuma san, namichi beese saantimii worqi'ii kuma lama fudhatelle kuma lama keessaa baafate.

¹⁸ Namichi beese saantimii worqi'ii kuma tokko fudhate ammoo, dhaqee boolla qotee beese gootta'aa san awwaale.

¹⁹ «Yennaa dheertu'uun duuba goottaan tajaajiltoota sanii dhufee isaan woliin herregate.

²⁰ Namichi beese saantimii worqi'ii kuma shan fudhate, ta dhibii kuma shan fidee dhufee, «Gootta'a, ati beese saantimii worqi'ii kuma shan natti kenniteeyyu; kunoo, ani ta dhibii kuma shan keessaa buuseera» jedhe.

²¹ Goottaan isaa, «Dansaa goote, ati tajaajilaa addatamaa dansa'a; waan diqqo'oon addatanteerta, ani waan guddo'otti itti gaafatamaa si godha; koy gara gammada gootaa keetii gali!» jedheen.

²² Namichi beese saantimii worqi'ii kuma lama fudhatelle dhufee, «Gootta'a» jedhee, «Ati beese saantimii worqi'ii kuma lama natti kenniteeyyu; kunoo, ani ta dhibii kuma lama keessaa buuseera» jedheen.

²³ Goottaan isaa, «Dansaa goote, ati tajaajilaa addatamaa dansa'a; waan diqqo'oon addatanteerta, ani waan guddo'otti itti gaafatamaa si godha; koy gara gammada gootaa keetii gali!» jedheen.

²⁴ Achiin duuba namichi beese saantimii worqi'ii kuma tokko fudhatelle dhufee, «Gootta'a, ati nama hamaa addee hin dhaabinii galfattu, addee hin facaasinii haammattu akka teete si beeka;

²⁵ tanaaf ani sodaadhee, dhaqee beese teeti boollatti awwaale. Beeseen teeti kunoo ti» jedheen.

²⁶ «Goottaan isaa ammoo, «Ati tajaajilaa hama'aa fi booseya*! Addee hin dhaabinii akka galfadhu, addee hin facaasinii akka haammadhu beetteertaa motii?

* 25:26 Booseya: Afachaala.

²⁷ Ati beesee tiyya worra dhalaan fudhatu bira naaf kewu'uu malte; ani yennaa deebi'e silaa beesee tiyya dhala woliin fudhadhaayyu.

²⁸ Maarre beesee san isa irraa fuudha'aatii, namicha beesee saantimii worqi'ii kuma kudhan qabuuf kenna'a.

²⁹ Nama qabu maraaf itti dabalantee hin kennantiif, hin bacattiifille'e; nama womaa hin qanne ammoo, wonni inni qabuuyyuu irraa hin fudhatanti.

³⁰ Tajaajilaa gatii hin qanne kana, dukkana alaatitti gad gata'a, achitti bowaa ilkaan qara» jedhe» isaaniin jedhe.

Muraa Muumme'ee

³¹ Yesuus ammalle, «Ilmi Namaa ulfinna ifitii fi ergantoota Waaqaa mara woliin yennaa dhufu, barcumaa ulfinna ifi gubbaa hin tee'a.

³² Gosi marti isa duratti wolitti hin qabanti; akkuma tisseen hoolota re'ee irraa gargar fowu, innille kolbaa san gargar fowee,

³³ hoolota midda ifiititti, re'oota bitaa ifiititti dhaabbachiisa.

³⁴ Achiin duuba mootichi worra midda ifitiin, «Isin worra Abbaa kiyyaan eebbifantane, kowa'a! Mootummaa dadama biyyi lafaatii jalqaddee isiniif qophootte dhaala'a;

³⁵ sababille ani beelowee na nyaachittaneertan; dheebodhee na obaatta-neertan; keessummaa te'ee na fudhattaneertan;

³⁶ daaree na uffittaneertan; dhibamee na gaafattaneertan; hidhameelle na gaafattaneertan» jedhe.

³⁷ Yennaa san balchooleen, «Goota'a, nuuti yoom beelotteertuun dhagginnee si nyaachinne? Yookiin dheebuu teeti dhagginee yoom si obaanne?

³⁸ ««Nuuti keessummaa teeteertuun dhagginee yoom si fudhanne, yookiin daarteertuun dhagginee yoom sitti uffinne?

³⁹ Nuuti yoom dhibanteertuun yookiin hidhanteertuun dhagginee si gaafanne?» jedhaneen.

⁴⁰ Mootichi deebisee, «Ani dhugumaan isinitti hima, obboleeyyan tiyya worra mara caalaa didiqqa'aa kana keessaa tokkoof ka gootane, naaf gootane!» isaaniin jedhe.

⁴¹ «Achiin duuba inni worra bitaa ifitiin, «Isin worra abaarama na biraa fagaadha'a; gara ibidda bara baraa ka Seexanaa fi ergantoota Seexanaatiif qophowee deema'a;

⁴² ani beelowee na hin nyaachinne; dheebodhee na hin obaanne;

⁴³ keessummaa te'eelle na hin fudhanne; daareelle na hin uffinne; dhibameelle, hidhameelle isin na hin gaafanne» hin jedha.

⁴⁴ «Achiin duuba isaanille deebisane, «Goota'a, beelotteertuun, yookiin dheebotteertuun, yookiin keessummaa teeteertuun, yookiin daarteertuun, yookiin dhibanteertuun, yookiin hidhanteertuun dhagginee yoom si qarqaaruu dhanne?» hin jedhaniin.

⁴⁵ Mootichi deebisee, «Ani dhugumaan isinitti hima, worra mara caalaa didiqqa'aa kana keessaa tokkoof waan hin godhiniif, analle'eef hin goone» isaaniin hin jedha.

⁴⁶ Worri kun gara muraa bara baraa, worri balchooleen ammoo gara jiruu bara baraa hin deeman» jedhe.

26

Yesuus Ijjeesiisaaf Mari'atane

(Mar. 14:1-2; Luq. 22:1-2; Yoh. 11:45-53)

¹ Yesuus dubbii tana mara dubbatee fixeen duuba, barattoota ifitiin,

² «Guyyaa lamaan duuba Jilti Irra Dabaramaa akka dhuttu isin hin beettan, Iلمي Namaalle fannifamiisaaf dabarfamee hin kennama» jedhe.

³ Achiin duuba sooreyyiin hayyootaati fi jaarsoti kolba'aa mana hayyicha gudda'aa ka Qayyaaffaa jedhamuutitti wolitti qabamanee,

⁴ dhossa'aan Yesuus qabiisaa fi ijjeesisiisaaf mari'atane.

⁵ Isaan ammoo, «Kolbaa oddu'utti raafam hin ka'a fa'aa, yennaa jilaa hin tolchinu» jedhane.

Dubartiin Takka Bitaanaya'atti Yesuus Fiqiree Issite
(Mar. 14:3-9; Yoh. 12:1-8)

⁶ Yesuus Bitaanaya'atti mana Simoonii dur dhukkuba goga'aa farrisiisa'aan qabameeruu adoo jiruu,

⁷ dubartiin takka fiqiree gatii guddo'oo, duloo dhakaa albaasaaxarii jedhamu irraa hojjatame tokkoon fiddee gara isaa dhuttee, isaa qorii bira tee'eeru, fiqiree san mataa isaatitti naxxe.

⁸ Barattooti isaa yennaa dhaggane ammoo, aaranee, «Tun maaf lafatti baddi?

⁹ Fiqireen tun karra guddo'otti gurgurantee, beeseen sun worra hiyyeeyyi'iif silaa hin kennamaayyu» jedhane.

¹⁰ Yesuus ammoo waan kana beekke, «Dubartii tana maaf rakkittan? Isiin waan dansaa naaf goote.

¹¹ Hiyyeeyyiin yennaa mara isin woliin jiran, ani ammoo yennaa mara isin woliin hin jiraadhu.

¹² Isiin fiqiree tana nafa kiyyatti naqiisaan awwaalaaf na qopheessite.

¹³ Ani dhugumaan isinitti hima, biyya lafaa duudii keessatti, addee wongeelli kun itti lallabame maratti, wonni isiin goote qaabbii isi'iitiif hin dubbatama» isaaniin jedhe.

Yihudaan Yesuus Dabarsee Kenniisaaf Jaraan Wolii Gale
(Mar. 14:10-11; Luq. 22:3-6)

¹⁴ Yennaa san Yihudaan nami biyya keriyootii, barattoota kudhanii lamaan keessaa tokko ka te'e, gara sooreyyii hayyootaa dhaqee,

¹⁵ «Ani yoo isa dabarsee isinitti kenne, isin maan naaf kennitan?» isaaniin jedhe; isaan meetii* soddoma isaaf kaffalane.

¹⁶ Yihudaalle yennaa sanii jalqabee isa dabarsee kenniisaaf daguu barbaadate.

Yesuus Sagalee Jila Irra Dabaramaa Barattoota Woliin Nyaate
(Mar. 14:12-21; Luq. 22:7-13,21-23; Yoh. 13:21-30)

¹⁷ Guyyaa jalqaba Jila Daabboo Uukoo hin qanneetitti, barattooti gara Yesuusii dhufanee, «Sagalee Jila Irra Dabaramaa akka nyaattuuf eessatti akka si'iif qopheessinu barbaadda?» jedhane isa gaafatane.

¹⁸ Inni deebisee, «Qachaa keessa gara mana nama tokkoo dhaqa'aatii, namicha saniin, «Yennaan tiyya dhikaatteerti; ani Jila Irra Dabaramaa barattoota tiyya woliin mana keetitti jilifadha, jedha barsiisaan» jedha'aan» isaaniin jedhe.

¹⁹ Barattooti akkuma Yesuus isaan ajaje, sagalee Jila Irra Dabaramaa qopheessane.

²⁰ Yennaa galgalootte, Yesuus barattoota ifii kudhanii lamaan woliin nyaatiisaaf tee'e.

* **26:15 Meetii:** Meetiin beesee sibiilaa ti; Kitaab Amaariffaa birrii jedha; akkas jechuun birrii woraqataa adoo hin te'in ka sibiilaa ti

²¹ Adoo nyaatiisatti jiranuu, Yesuus, «Ani dhugumaan isinitti hima, isin keessaa nami tokko dabarsee na hin keenna» jedhe.

²² Barattooti akka malee gaddanee, badoo bado'oon, «Gootta'a, dhugumaan ana te'innaa?» isaan jedhiisa jalqabane.

²³ Yesuus deebisee, «Ka na woliin harka qorii keyetti dabarsee na kenna.

²⁴ Ilmi Namaa akkuma marroo isaatiif barreeffante hin du'a, ammoo nama Ilma Namaa dabarsee kennuuf aanne'e! Nami sun silaa adoo dhalatuu dhabee isaaf woyya» jedhe.

²⁵ Yihudaan, ka isa dabarsee kennaaru, «Barsiisa'a, dhugumaan ana te'innaa?» jedhe.

Yesuus deebisee, «Atuu jette» jedheen.

Irbaata Gootta'aa

(Mar. 14:22-26; Luq. 22:14-20; 1 Qor. 11:23-25)

²⁶ Isaan adoo nyaatiisatti jiranuu, Yesuus xaltaa daabbo'oo fuudhee, Waaqaaf galata galchee, barattootaaf kennee, «Fudhadha'aa, nyaadha'a; kun foon kiyya» jedhe.

²⁷ Inni muduunuulle fuudhee, Waaqaaf galata galcheen duuba, isaaniif kennee, «Isin martinuu, itti una'a;

²⁸ kun dhiiga kiyya, ka Gondooroo haareyaa, ka araara cubbuu kolbaa heddu'uutiif dhangala'e.

²⁹ Ani isinitti hima, mootummaa Abbaa kiyyaa keessatti isin woliin haga guyyaa daadhii woyni'ii haareya unutti, ijjumaa deebi'ee daadhii woyni'ii hin unu» isaaniin jedhe.

³⁰ Achiin duuba isaan faaruu faarsanee, gara gaara ejersaa ol bayane.

Yesuus Mormatiisa Pheexroosii Dursee Hime

(Mar. 14:27-31; Luq. 22:31-34; Yoh. 13:36-38)

³¹ Achiin duuba Yesuus, «Isin martinuu edana na lakkittanee hin baqattan; sababille,

«Ani tissee hin ijjeesa,

hoolotille hin xexeeraman» jedhantee barreeffanteerti.

³² Du'aa ka'een duuba ammoo, isiniin dura gara Galiila'aa deema» isaaniin jedhe.

³³ Pheexroos, isaan, «Isaan martinuu si lakkisatee baqatanulle, ani ijjumaa si lakkisee hin baqadhu» jedheen.

³⁴ Yesuus, isaan, «Ani dhugumaan sitti hima, edanuma, iyya lukku'uutiin dura, ati yennaa sad na mormatta» jedheen.

³⁵ Pheexroos, isaan, «Si woliin du'uun yoo na barbaachiselle, ani ijjumaa si hin mormadhu» jedheen. Barattooti martinuu akkasuma jedhane.

Yesuus Getesemaane'etti Daadimate

(Mar. 14:32-42; Luq. 22:39-46)

³⁶ Achiin duuba Yesuus barattoota ifii woliin gara addee Getesemaanee jedhantuu dhage; inni barattoota ifitiin, «Haga ani achi dhagee daadimadhu, isin as tee'a'a!» jedheen.

³⁷ Inni Pheexroosii fi ilmaan Zabdewoosii lamaan fudhatee dhagee, gaddaa fi laaleffata jalqabe.

³⁸ Achiin duuba inni, isaaniin, «Ani qixxee du'aatitti, guddoo gadde; isin as tura'aa, na woliin dammaqa'aa tee'a'a!» jedheen.

³⁹ Haga diqqaa irraa hiiqee, lafatti jigee, «Abbaa kiyya, yoo dande'ame, muduunuun rakkinnaa tun narra dabartuuti; te'uu male akka fedha keetii malee, akka fedha kiyyaa hin te'in» jedhe.

⁴⁰ Achiin duuba inni gara barattoota sadii deebi'ee dhufee, rafiisatti jiranuun dhagge; inni Pheexroosiin, «Maarre, isin saatii tokkolle na woliin dammaxxanee turuu hin dandeennee?

⁴¹ Akka ataabe'etti hin gallelle daadimadha'a; ayyaanni dhugumaan fedha qaba, foon ammoo dadhaba'a» jedheen.

⁴² Yesuus ammalle yennaa lammeesso'oo isaan irraa hiiqee, «Abbaa kiyya, muduunuun rakko'oo tun adoo hin unin narra dabariisa ka hin dande'anne yoo teete, fedhiin teeti muummottuu ti» jedhee daadimate.

⁴³ Yesuus ammalle dhufee ilti isaanii waan dunquuqotteef, rafiisatti jiranuun dhagge.

⁴⁴ Maarre ammalle isaan lakkisee, irraa hiiqee yennaa sadeesso'oo, jechootuma duraan jedhe kaan jedhaa daadimate.

⁴⁵ Achiin duuba inni gara barattootaa deebi'ee dhufee, «Isin haga ammaa rafaa, foorfatiisatti jirtanii? Kunoo, saatiin Ilmi Namaa harka cubbaaleyyi'ititti dabarfamee kennamu geetteerti.

⁴⁶ Ka'aa deennaa! Kunoo, ka dabarsee na kennu dhikaateera» isaaniin jedhe.

Yesuus Qabame

(Mar. 14:43-50; Luq. 22:47-53; Yoh. 18:3-12)

⁴⁷ Adoo Yesuus dubbatiiisatti jiruu, barattoota kudhanii lama keessaa tokko ka te'e Yihudaan dhufe; gumiin guddoon ulee-jirmaa fi shallaagaa qabatteertu, sooreyyii hayyootaatii fi jaarsolee kolba'aa biraa ta erganteertu isa woliin jirtiyyu.

⁴⁸ Yihudaan Yesuus dabarsee kennu, «Nama ani sunqadhu, isa qaba'a» jedhee duraanuu beessisa isaaniif kenneera.

⁴⁹ Yihudaan akkuma gara Yesuusii dhufeen, «Barsiisa'a, attam nageyaa!» jedhee sunqate.

⁵⁰ Yesuus deebisee, «Jaali, waan hujiisaaf dhutte huji» jedheen.

Achiin duuba isaan dhufanee Yesuus jabeessanee qabane.

⁵¹ Dedhuma, worra Yesuus woliin jiru keessaa tokkochi shallaagaa buqqifatee, garbicha hayyicha gudda'aa dhowee, gurra isaa irraa kute.

⁵² Achiin duuba Yesuus, «Shallaagaa keeti gonofa'atti deebifadhu; worri shallaagaa buqqifatu martinuu shallaaga'aan bada.

⁵³ Ani Abbaa kiyya yoo gaafadhe, Inni yoosuma ergantoota duula kudhanii lama caalu naa erguu hin dande'u sitti fakkaataa?

⁵⁴ Ammoo Barreeffam Woyyichi karaa kanaan te'uu qaddi ka jedhu, silaa attamiin muummowa ree?» jedheen.

⁵⁵ Yennuma san Yesuus gumi'in, «Akka ani yakkaamessaa, shallaaga'aa fi ulee-jirma qabattanee na qabiisaaf dhuttanee? Ani guyyuma guyya'aan Galma Waaqaa keessa tee'ee barsiisaa ture, isinille na hin qanne.

⁵⁶ Ammoo wonni raagoti Barreeffama Woyyicha keessatti barreessite akka muummottuuf, tun marti teete» jedhe. Yennaa san barattooti isaa martinuu isa lakkisane baqatane.

Yesuus Kora Mura'aa Duratti Dhikaate

(Mar. 14:53-65; Luq. 22:54-55,63-71; Yoh. 18:13-14,19-24)

⁵⁷ Worri Yesuus qabane sun, mana barsiisoti Seera Muuse'eetii fi jaarsoti kolba'aa itti wolitti qabamaneeranutti, gara Qayyaaffaa hayyicha gudda'aa isa geessane.

⁵⁸ Pheexroos ammoo irraa fagaatee haga badhinna dalleya hayyicha gudda'aa Yesuus hordofe; keessalle seenee, wonni kun attam akka teetu ilaaliisaaf, eeddota woliin tee'e.

⁵⁹ Sooreyyiin hayyootaatii fi korri mura'aa duudiin Yesuus ijjeesisiisaaf dhugaa baatota dharaa itti barbaadane.

⁶⁰ Dhugaa baatoti dharaa hedduun itti dhikaattulle, ammoo dhugaa baya du'a itti mursiisu tokkole hin dhaggine; dhuma irratti namooti lamaan dhufanee,

⁶¹ «Namichi kun, «Ani Galma Waaqaa diigee guyyaa saditti ijaaruu dande'a» jedheera» jedhane.

⁶² Hayyichi guddaan ol ka'ee, «Waan isaan si irratti dhugaa bayanu kanaaf ati deebii tokkole hin qadduu?» jedhe.

⁶³ Yesuus ammoo cadhise. Achiin duuba hayyichi guddaan, «Magannee Waaqa jiraata'aa, ati Masihi, Ilma Waaqaa yoo teete nutti himi» jedheen.

⁶⁴ Yesuus deebisee, «Maarre atinuu jette. Ani ammoo isinitti hima, ammaa jalqabee Ilmi Namaa midda Waaqa hunnaamessaa tee'uun, duumensa ol-gubba'aatilleen dhufuun hin dhaggitan» isaan jedhe.

⁶⁵ Yennaa san hayyichi guddaan woyaa ifii tarsaasee, «Inni Waaqa faanshesseera! Dhugaa dhibii maaf barbaanna? Waaqa faanshessuun isinuu dhageettane.

⁶⁶ Maan isinitti fakkaata?» jedhe.

Isaan deebisane, «Inni du'uu qaba» jedhane.

⁶⁷ Yennaa san isaan fuula isaatitti tufanee tuntumane; worri gariin kabal-
anee,

⁶⁸ «Masihi! Eentu si dhowe? Nu raagi» jedhaneen.

Pheexroos Yesuus Mormate

(Mar. 14:66-72; Luq. 22:56-62; Yoh. 18:15-18,25-27)

⁶⁹ Adoo Pheexroos ala badhinna dalleyaa keessa tee'iisatti jiruu, durrittiin tajaajiltuun takka gara isaa dhuttee, «Atille Yesuusii worra Galiila'aa woliin jirtaayyu!» jetteen.

⁷⁰ Inni ammoo, «Waan ati dubbatiiisatti jirtuuyyuu ani hin beeku» jedhee isaan mara duratti mormate.

⁷¹ Yennaa inni gara seensuma karraa dhaqe, durrittiin tajaajiltuun dhibiin isa dhaggitee, worra achi dhaabbateeruun, «Namichi kun Yesuusii nama Naaziretii woliin jiraayyu» jette.

⁷² Pheexroos ammalle, «Ani namicha hin beeku» jedhee kakatee mormate.

⁷³ Yennaa diqqo'oon duuba worri achi dhaabbataneeranu dhufanee, Pheexroosiin, «Akki ati dubbattuuyyuu hin beessisa, dhugumaan atille isaan keessaa nama tokko» jedhaneen.

⁷⁴ Yennaa san inni, «Ani namicha hin beeku» jedhee ifi abaaraa kakatiisatti ka'e. Yennuma san lukkuun iyyite.

⁷⁵ Achiin duuba Pheexroos waan Yesuus, «Iyya lukku'uutiin dura, ati yennaa sad na mormatta» jedhe qaabatee, gad bayee laaleffatee bowe.

27

Yesuus Philaaxoos Duratti Dhikeeffame

(Mar. 15:1; Luq. 23:1-2; Yoh. 18:28-32)

¹ Bariin halkaniin sooreyyii hayyootaatii fi jaarsoleen kolba'aa marti Yesuus ijjeesisiisaaf mari'atane.

² Isaan Yesuus hidhane, geessanee, Philaaxoosii bulchaa biyyaatitti dabarsanee kennane.

Du'a Yihuda'aa *(HuE. 1:18-19)*

³ Yihudaan isa dabarsee kenne, akka Yesuusitti murame yennaa dhagge, gaabbee meetii* soddoma san sooreyyii hayyootaatii fi jaarsolee kolba'aatiif deebisee fidee,

⁴ «Nama yakkaa hin ganne dabarsee kenniisaan yakkeera» isaaniin jedhe. Isaan ammoo, «Maanti nu dhibe ree? Haajaa keeti!» jedhane.

⁵ Yihudaan beese san Galma Waaqaa keessatti qolaansee gatee, isaan biraa deemee, dhaqee ifi fannise.

⁶ Sooreyyiin hayyootaa ammoo, beese san fuudhanee, «Beeseen tun gatii dhiiga namaa waan teeteef, karra Galma Waaqaatitti makuun seeraa moti» jedhane.

⁷ Mari'ataneen duuba, addee awwaala worra ormaa akka teetu, namicha faara dhowu irraa lafa ittiin bitane.

⁸ Sababa kanaaf latti sun haga adhaa, «Lafa dhiigaa» jedhantee waamanti.

⁹ Wonni Ermiyaasiin raagichi, «Isaan meetii soddoma akka gatii isaa tee-tuuf, ijoolleen Israa'elii herreddee fudhatte;

¹⁰ akkuma Goottaalle na ajajetti gatii lafaa namicha faara dhowuu ken-nane» jedhee dubbate muummotte.

*Yesuus Philaaxoos Duratti Dhikeeffame
(Mar. 15:2-5; Luq. 23:3-5; Yoh. 18:33-38)*

¹¹ Yesuus Philaaxoosii bulcha biyyaa dura dhaabbate; Philaaxoosille, «Ati mootii Yihudootaatii?» jedhee isa gaafate.

Yesuus, «Maarre atuu jette» jedheen.

¹² Inni ammoo yennaa sooreyyii hayyootaatii fi jaarsolee kolba'aatiin himatame, deebii hin kennine.

¹³ Achiin duuba Philaaxoos, «Waan hedduu isaan si himatanu ati hin dhageettuu?» jedheen.

¹⁴ Inni ammoo jechuma tokkolle hin deebinne; tanaaf bulchaan biyyaa Philaaxoos guddoo baaseffate.

*Yesuusitti Du'a Murane
(Mar. 15:6-15; Luq. 23:13-25; Yoh. 18:39–19:16)*

¹⁵ Yennaa Jila Irra Dabaramaa, bulchaan biyyaa Philaaxoos worra hid-hamane keessaa nama tokkocha, ka kolbaan gaafatte aadaa hiiku qaba.

¹⁶ Yennaa san namichi hantuu hujiisaan beekkame tokko, ka Barabbaa jedhamu, hidhaa keessa jiraayyu.

¹⁷ Maarre isaan wolitti qabamaneen duuba, Philaaxoos, «Eennu akka ani isiniif hiiku barbaaddan? Barabbaa moo yookiin Yesuus ka Masihiin jedhame» isaaniin jedhe.

¹⁸ Philaaxoos akka isaan waan hinaattolee te'aneef dabarsanee isa ken-nane beekeera.

¹⁹ Philaaxoos barcumaa mura'aa gubbaa tee'eeruun, haati manaa isaa, «Namicha balchaa san waan tokkolle hin godhin! Ani eda halkan marroo isaa oojju'uun guddoo rakkadhe» jettee ergaa itti ergite.

²⁰ Sooreyyiin hayyootaatii fi jaarsoleen Barabbaan akka isaanii hiikamuu fi Yesuus akka ijjeefamu gumiin akka gaafattuuf yaada fudhachiisane.

²¹ Bulchaan biyyaa Philaaxoos ammalle, «Isaan lamaan keessaa eennu akka ani isiniif hiiku barbaaddan?» jedhee isaan gaafate.

Isaanille, «Barabbaa nuuf hiiki!» jedhane.

²² Philaaxoos, «Yesuus ka Masihiin jedhame maan godhu ree?» isaaniin jedhe.

Isaan martinuu, «Inni fannifamuu ti!» jedhane.

* **27:3 Meetii:** Yaadannoo 26:15 irratti kenname ilaali **27:8 HuE.** 1:18-19

²³ Achiin duuba inni, «Maaf? Inni yakkaa maan hujeera?» jedhee isaan gaafate.

Isaan ammoo, «Inni fannifamuu ti!» jedhanee iyyanee hogisane.

²⁴ Maarre Philaaxoos irra caalaa nageya booressiisa malee, waan tokkolle godhuu akka hin dandeenne yennaa dhagge, bisaan fuudhee, gumii duratti harka ifii dhiqatee, «Ani dhiiga nama kanaa irratti yakkaa hin qabu; isinitti itti gaafatama!» jedhe.

²⁵ Achiin duuba kolbaan duudiinuu, «Dhiiga isaatiif, nuutii fi ijoollee teenna itti gaafattannuu ti» jedhanee deebisane.

²⁶ Maarre inni Barabbaa isaaniif hiike; liche'een Yesuus dhaansiseen duuba, akka fannifamuuf dabarsee kenne.

Loltooti Yesuusitti Taphatane (Mar. 15:16-20; Yoh. 19:2-3)

²⁷ Achiin duuba loltooti bulchaa biyyaa Yesuus gara mana mootumma'aatitti fuudhanee geessane; loltoota duudii adaala Yesuusiititti wolitti qabane.

²⁸ Isaan woyaa isaa irraa baasanee woyaa diintuu itti uffisane,

²⁹ dameelee qore'eetiin kallacha hujanee mataa isaatitti keyane. Ulee harka isaa middichatti qabachiisane, isa duratti jilbiiffatane, «Mootii Yihudootaa, jiraadhu!» jedhaa itti taphatane.

³⁰ Isaan itti tufanee, uleelle irraa fuudhanee mataa isaa dhowane.

³¹ Itti taphataneen duuba, isaan woyaa san irraa baasanee woyaa isaa deebisane itti uffisane. Achiin duuba fannisiisaaf isa geessane.

Yesuus Fannifame (Mar. 15:21-32; Luq. 23:26-43; Yoh. 19:17-27)

³² Isaan yennaa gad bayane, namicha biyya Qareena'aa tokko, ka Simoon jedhamu dhagganee, fannoo Yesuusii akka ba'atu hunnaan tolchane.

³³ Isaan addee Golgootaa jedhantu dhufane; «Golgootaa» jechuun «Addee buqqii mata'aa» jechu'u.

³⁴ Isaan daadhii woyni'ii hadhoottu'uun makanee, akka unuuf Yesuusiif kennane. Inni afaaniin qabe malee, hin unne.

³⁵ Yesuus fannisaneen duuba hixaa buufatiisaan woyaa isaa qoqoodamane.

³⁶ Achiin duuba isaan achi tee'anee isa eegane.

³⁷ Isaan barreeffama isa ittiin himatane, «Kun mooticha Yihudootaa, Yesuus» ka jedhu, mataa isaatiin gubbaa keyane.

³⁸ Yennaa san isaan alagaltoota lamaan, tokko midda isaatitti tokko bitaa isaatitti, isa waliin fannisane.

³⁹ Worri achiin dabaranu mataa ifii raasaa,

⁴⁰ «Ati ka Galma Waaqaa diiddee guyyaa saditti deebittee ijaartu, ifi fayyisi me! Ati yoo Ilma Waaqaa teete, fannoo irraa gad bu'i!» jedhaa isa arrassane.

⁴¹ Akkasuma sooreyyii hayyootaa, barsiisoti Seeraatii fi jaarsolee waliin itti taphatane,

⁴² «Inni worra dhibii fayyiseera; mataa ifii fayyisuu hin dande'u. Inni mootii Israa'elii yoo te'e, me amma fannoo irraa gad bu'uu ti; nuutille isatti hin dhugeeffanna.

⁴³ Inni Waaqatti addatee, «Ani Ilma Waaqaa ti» waan jedheef, Waaqi yoo barbaade, me amma isa fayyisuu ti» jedhane.

⁴⁴ Akkasuma alagaltooti isa waliin fannifamanelle isa arrassane.

*Du'a Yesuusii**(Mar. 15:33-41; Luq. 23:44-49; Yoh. 19:28-30)*

⁴⁵ Orraa saatii jaan jalqabee haga saatii sagalii latti duudiin dukkanootte.

⁴⁶ Gara saatii sagaliititti Yesuus, «Elo'ii, Elo'ii, lamaa sabaktanii?» jedhee qoonqoo guddo'oon iyye; akkas jechuun, «Waaqa kiyya, Waaqa kiyya, maaf na lakkitte?» jechu'u.

⁴⁷ Worra achi dhaabbatanu keessaa gariin yennaa tana dhage'ane, «Namichi kun Eliyaas waamiisatti jira» jedhane.

⁴⁸ Yoosuma isaan keessaa tokkochi fiigee, ispoonjii[†] fuudhee, daadhii woyni'ii dhangaggoottu'utti cuuphee, qaccee ule'eetitti keyee, akka inni unuuf isaaf kenne.

⁴⁹ Worri dhibiin ammoo, «Eegi me! Eliyaas dhufee akka isa fayyisu hin ilaalla!» jedhane.

⁵⁰ Achiin duuba Yesuus ammalle qoonqoo guddo'oon iyyee du'e.

⁵¹ Yennuma san gollaan Galma Waaqaa keessaa gubba'aa haga gadii addee lamatti tarsa'e. Latti tachoote, rassaalle dadayya'e.

⁵² Irreensotille banamanee, kolbaan Waaqaa ta duute keessaa worri hedduun ka'ane.

⁵³ Isaan irreensa keessaa bayanee, Yesuus du'aa ka'een duuba, gara qachaa woyyichaa gara Yerusaalemii galanee, worra heddu'utti mudhatane.

⁵⁴ Ajajaan dhibbaatii fi worri isa waliin Yesuus eegaa turane, tacho'a lafaatii fi waan te'e yennaa dhaggane, guddoo sodaatanee, «Dhugumaan nami kun ilma Waaqaa ti» jedhane.

⁵⁵ Dubartooti hedduun, irraa fagaatanee ilaalaa, Galiilaa irraa jalqabanee Yesuus hordofaa isa tajaajilane achi jiraniyyu.

⁵⁶ Isaan keessa Maariyaamii qachaa Magdala'aa, Maariyaamii haadha Yaaqoobiitii fi Yoseefii, haadha ijoollee Zabdewoosii fa'atti jira.

*Yesuus Awwaalame**(Mar. 15:42-47; Luq. 23:50-56; Yoh. 19:38-42)*

⁵⁷ Yennaa galgalootte, namichi dureessi qachaa Armaatiya'aa, ka Yoseef jedhamu tokko, achi dhufe; innille barataa Yesuusiitiyyu.

⁵⁸ Inni gara Philaaxoosii dhaqee reefa Yesuusii gaafate; achiin duuba Philaaxoos reefi akka kennamuuf ajaje.

⁵⁹ Maarre Yoseef reefa fudhatee, woyaa qoolaa qulqullu'uun maree,

⁶⁰ goda awwaalaa haareya ta ifiif rassaa keessatti bocate keessa keye. Achiin duuba dhakaa guddaa balbala goda awwaalaatitti gangalchee, achii deeme.

⁶¹ Maariyaamiin qachaa Magdala'aatii fi Maariyaamiin tuun goda awwaalaa fuula dura tee'iisatti jiraniyyu.

Worra Goda Awwaalaa Eegu

⁶² Boruuyyaa, guyyaa qophi'iitiin duuba, guyyaa Sanbataa sooreyyii hayyootaatii fi Fariisaayoti Philaaxoos duratti wolitti qabamanee,

⁶³ «Gootta'a, sobaalessi sun adoo jiruu, «Guyyaa sadiin duuba deebi'ee ka'a» waan inni jedhe nuuti hin qaabanna.

⁶⁴ Tanaaf haga guyyaa sadiititti godi awwaalaa akka eegamu ajaji; kun te'uu dhabaannaan, barattooti isaa dhaqqanee reefa hatanee fa'a, kolba'aan, «Inni du'a keessaa ka'eera» hin jedhan; sobi duuba irraa ka duraa caalaa hamaa te'a» jedhaneen.

⁶⁵ Philaaxoos, «Worra eegu fudhadha'aa dhaqa'aatii, akka beettanutti eegachiifadha'a» isaaniin jedhe.

[†] 27:48 *Ispoonjii*: Waan bisaan nafaan xuuxu

⁶⁶ Maarre isaan worra eegu woliin dhaqanee dhaka'atti chaappaa dhowanee, goda awwaalaa san eegisiisane.

28

Yesuus Du'aa Ka'e

(*Mar. 6:1-10; Luq. 24:1-12; Yoh. 20:1-10*)

¹ Sanbati dabareen duuba, Dilbata* barii halkaniin, Maariyaamiin qachaa magdala'aatii fi Maariyaamiin tuun boolla awwaalaa ilaaliisaaf dhaqane.

² Ergamaan Gootta'aa ol-gubbaa irraa gad bu'ee, dhufee dhakaa boolla awwaalaa irraa gangalchee waan irra tee'eef, dedhuma tacho'i lafaa gud-daan te'e.

³ Bifi isaa akka balaqqeetti'ii, woayaan isaa adii akka dhakaa roobaa ti.

⁴ Worri eegu ergamaa Gootta'aa waan sodaateef hollataneet† akka nama du'ee te'ane.

⁵ Ergamaan Gootta'aa ammoo dubartootaan, «Hin sodaatina'a; isin ka fannifame Yesuus akka barbaaddanu ani hin beeka.

⁶ Inni as hin jiru; akkuma duraan dubbate du'aa ka'eera. Addee reeffi isaa keyame kowa'aa ilaala'a.

⁷ Amma ariifadha'aatii deema'aatii, «Inni du'aa ka'eera, amma isiniin dura gara Galiila'aa dhaqa; isin achitti isa hin dhaggitan» jedha'aatii barattoota isaatitti hima'a. Kunoo, ani isinitti himeera» jedhe.

⁸ Maarre dubartooti soda'aa fi gammada gudda'aan ariifatane boolla awwaalaa keessaa bayanee, barattoota isaatitti himiisaaf rukkisane.

⁹ Dedhuma Yesuus isaaniin wolde'ee, «Nageenni isiniif te'u!» isaaniin jedhe. Isaanille itti hiiqanee, miila isaa qabatanee, isaaf sagadane.

¹⁰ Achiin duuba Yesuus, «Hin sodaatina'a; gara Galiila'aa akka dhaqanu obboleeyyan tiyyatti dhaqa'aa hima'a; isaan achitti na dhaggan» isaaniin jedhe.

¹¹ Dubartooti adoo karaa irra jiranuu, worra boolla awwaalaa eegu keessaa gariin gara qacha'aa dhaqanee waan te'e mara sooreyyii hayyootaatitti himane.

¹² Sooreyyiin hayyootaa jaarsolee kolba'aa woliin wolitti dacha'ane mari'atane, beese guddoo loltootaaf kennanee,

¹³ «Isin, «Barattooti isaa adoo nuuti rafiisatti jirruu halkan dhufanee reeffa isaa hatanee deemane» jedha'aa kolba'atti hima'a.

¹⁴ Bulchaan biyyaa yoo dubbii tana dhage'e, nuuti itti hinnee dubbii nyaachinne, akka isin hin rakkannelle goona» jedhaneen.

¹⁵ Maarre isaan beese fudhatanee akkuma isaan jedhane godhane. Dubbiin tun haga guyyaa adhaatitti Yihudoota oddu'utti odeeffanti.

Yesuus Barattoota Ifititti Mudhate

(*Mar. 16:14-18; Luq. 24:36-49; Yoh. 20:19-23; HuE. 1:6-8*)

¹⁶ Barattooti kudhanii tokko gara gaara Yesuus isaanitti akeekke, ka Galiilaa keessa jiruu dhaqane.

¹⁷ Isaan yennaa isa dhaggane, isaaf sagadane; worri gariin mamane.

¹⁸ Yesuus gara isaanii dhufee, «Baalliin duudiin ol-gubba'aa fi lafa irratti naaf kennanteerti.

¹⁹ Tanaaf gara gosa biyya adda addaa deema'aatii maqaa Abba'aa, maqaa Ilmaatii fi maqaa Ayyaana Woyyichaatiin isaan cuuphaa, barattoota tiyya godha'a.

* **28:1** Dilbata: Guyyaa jalqaba torbaanii † **28:4** Hollataneet: Rommanee **28:16** Mat. 26:32; Mar. 14:28 **28:19** HuE. 1:8

²⁰ Waan ani isin ajaje maralle akka eegatanu barsiisa'a. Anille yennaa mara haga muummee biyya lafaa isin waliin jira» isaaniin jedhe.

Wongeela Gootaa Keenna Yesuus Kiristoosii Ka Maarqoos Barreesse Seensa

Wongeelli Maarqoosii, «Jalqabi Oduu Gammadaa ka Yesuus Kiristoosii Ilma Waaqaa kana» jedhiisaan jalqaba. Oduu Gammadaa tana keessatti Yesuus nama huji'iitii fi nama baallii qabu te'ee dhikaateera. Baalliin isaalle: Barsiisa isaatiin, durriisota irratti hunna qabuu fi cubbuu namaatiif araara kenniisaan mudhatteerti. Yesuus, «Kolbaa garbooma cubbu'uu jalaa bilisa baasiisaaf jiruu tiyya wodoo godhee kenniisaaf ka dhufe ani Ilma Namaa ti» jedhee ifumaafuu dubbateera.

Maarqoos dabarsii Yesuusii dubbi'ii fi barsiisa isaa irratti adoo hin te'in irra caalaa hujii bilbaasaa ka inni huje irratti xiyyeeffatee, karaa qajeela'aa fi jaba'aan dhikeesse. Marroo dabarsii Yohaannisii cuupha'aa, marroo cuuphamiisaa fi ataabamiisa Yesuusii, seensa gabaabaa kenneen duuba, marroo barsiisiisaa fi dhibee irraa fayyisiisa Yesuusii badhinnaan barreesseera. Yenna'aan duuba hordofattooti Yesuusii akkuma irraa caalaa Yesuus beekaa deemanee, worri Yesuus falmulle irra caalaa isa jibbaa deeme. Fooroti dhumaa, torbaan dhumaa keessatti, jiruu Yesuusiititti waan muummowe, keessattuu marroo fannifamiisaa fi du'aa ka'iisa isaa dubbata.

Dhuma Wongeelaa irratti dalleya keessatti ka dhikaate yaadi lamaan barreeffama durii garii keessa calla'atti dhaggama.

Haadhoo Dubbi'ii

Jalqaba Wongeelaa 1:1-13

Huji Yesuus Galiilaa keessatti huje 1:14–9:50

Yesuus Galiila'aa gara Yersaaleemii dhage 10:1-52

Yesuus torbaan dhumaa Yersaaleemii fi adaala isi'iititti 11:1–15:47

Du'aa ka'iisa Yesuusii 16:1-8

Mudhatiisaa fi ol bayiisa Gootaa du'aa ka'ee 16:9-20

Lallaba Yohaannisii Cuupha'aa

(Mat. 3:1-12; Luq. 3:1-18; Yoh. 1:19-28)

¹ Jalqabi Oduu Gammadaa ka Yesuus Kiristoosii Ilma Waaqaa kana.

² Kitaaba Isaayaasii raagichaa keessatti,

«Kunoo, Ani ergamaa kiyya ka karaa si'iif qopheessu
si'iin dura erga.

³ Lafa goomole'ee* keessatti nami tokko†,

«Karaa Goota'aa qopheessa'a;

daandii inni irra ideemu qajeelcha'a!» jedhaa iyya» jedhantee akkuma
barreeffante.

⁴ Yohaannisiiin cuuphaan lafa goomole'ee keessatti, «Cubbuu teessan irraa
deebi'aatii, cuuphama'a! Waaqille cubbuu teessan isiniif hin araarama»
jedhaa lallabaa dhufe.

⁵ Kolbaan biyya Yihuda'aatii fi qachaa Yersaaleemii martinuu gara
Yohaannisii dhagane, cubbuu ifii dhugaa baasane‡, laga Yordaanosiititti
harka isaatitti cuuphamane.

⁶ Yohaannis uffana rifeensa gaalaatiin dhowame uffatee, hidha ifille
teephaan hidhatee, awwaannisaa fi damma hollaa nyaataa ture.

* 1:3 Goomole'ee: Gammoojji'ii † 1:3 Nami tokko: Hiikkaan gariin, «qoonqoon nama iyyuu» jedha.

‡ 1:5 Dhugaa baasane: Faaci'atane, cubbuu ifitti beekane.

⁷ Inni, «Ka na caalu na duubaan dhufaara; ani gad jedhee hidhaa kophee isaalle hiiku'uuf nama te'uu moti.

⁸ Ani bisaaniin isin cuupha; inni ammoo Ayyaana Woyyichaan§ isin cuupha» jedhee lasse.

Cuuphamuu Yesuusii

(Mat. 3:13-17; Luq. 3:21-23; Yoh. 1:31-34)

⁹ Eegi san adoo hin turin Yesuus, qachaa Naaziretii ka Galiilaa keessatti dhaggamuu dhufee, laga Yordaanosiititti harka Yohaannisii ititti cuuphame.

¹⁰ Akkuma Yesuus bisaan keessaa bayeen, ol-gubbaan saaqantee, Ayyaanni Woyyichi saphaliisa fakkaatee dhufee isa irra bu'uun dhagge.

¹¹ Ol-gubbaa irraa, «Ati ilma kiyya ka ani jaaladhu; ani si'itti gammadeera» goonqoon jettu dhage'ante.

Ataabamuu Yesuusii

(Mat. 4:1-11; Luq. 4:1-13)

¹² Yennuma san Ayyaanni Waaqaa akka Yesuus gara lafa goomole'ee dhaqu tolche.

¹³ Yesuus lafa goomole'ee keessa guyyaa afurtama Seexanaan ataabamaa* ture. Achitti bineensota woliin ture; ergantooti Waaqaalle isa tajaajilane†.

Yesuus Galiila'atti Hujii Jalqabe

(Mat. 4:12-17; Luq. 4:14-15)

¹⁴ Yohaannisiiin cuuphaan gara mana hidha'aa‡ dabarfamee kennameen duuba, Yesuus gara Galiila'aa dhufee, Oduu Gammadaa ta Waaqa irraa dhutte lallabe.

¹⁵ Inni, «Barri muummaweera, mootummaan waaqaa dhikaatteerti, cubbuu irraa deebi'aatii Oduu Gammadaatitti dhugeeffadha'a!» jedhe.

Yesuus Barattoota Jalqabaa Arfan Waame

(Mat. 4:18-22; Luq. 5:1-11)

¹⁶ Yesuus Abbaayaa Galiila'aa qarqaraan adoo dabaruu, guurtuu qurxummi'ii ka te'ane Simoonii fi Indiryaasiin obboleessi Simoonii cacchoo§ tiyyoo Abbaaya'atti afanuun dhagge.

¹⁷ Inni isaaniin, «Ana faana kowa'a! Ani guurtuu namaa isin tolcha» jedhe.

¹⁸ Isaanille yennuma san cacchoota ifii achitti dhiisane, isa faana deemane.

¹⁹ Yesuus haga diqqoo ideemee, ilmaan Zabdewoosii Yaaqoobii fi Yohaannis, hoboloo ifii keessatti cacchoota ifii mimmidhaffatanuun dhagge.

²⁰ Inni akkuma dhaggeen isaan waame; isaanille abbaa ifii Zabdewoos hojjattoota woliin hoboloo keessatti lakkisane Yesuus faana deemane.

Yesuus Namicha Ayyaana Hama'aan Qabame Fayyise

(Luq. 4:31-37)

²¹ Yesuusii fi barattooti isaa gara qachaa Qifirnaahoomii dhaqane; guyyaa Sanbata* itti aanuu Yesuus Mana Waaqonfannaa Yihudootaa seenee barsiise.

²² Yesuus akka barsiisota Seera Muuse'ee adoo hin te'in, akka nama baallii qabuu waan isaan barsiiseef worri barsiisiisa isaa dhage'ane maraa akka inni itti barsiise jajane.

²³ Yennuma san namichi ayyaana hama'aan qabameeru tokko Mana Waaqonfannaa Yihudootaa seenee,

§ 1:8 Ayyaana Woyyichaan: Ayyaana Qulqullu'uun * 1:13 Ataabamaa: Nunnuffamaa † 1:13 Tajaajilane: Ergamane ‡ 1:14 Hidha'aa: Hidhaanaa 1:14 Mat. 3:2 § 1:16 Cacchoo: Tiyyoo

* 1:21 Sanbata: Guyyaa foora Yihudootaa

²⁴ «Yesuusii nama Naaziretii, haajaa maan nu waliin qadda? Nu balleessi-isaaf dhuttee? Ani ebeluu teeti hin beeka; ati Woyyicha Waaqaa ti!» jedhe iyye.

²⁵ Yesuus ayyaana hama'aan «Cadhisi! Keessalle'ee bayi» jedhee xixe.

²⁶ Ayyaanni hamaan sun namicha gajassiisee, qoonqoo guddo'oon iyyee keessaa baye.

²⁷ Kolbaan martinuu guddoo maadeffatee, «Wonni akkasii kun maan? Kun barnoota haareya! Inni ayyaanota hamoota ajajiisaafille baallii qaba; isaanille isaaf hin ajajaman» jettee wol waliin dudubbatte.

²⁸ Gurri isaa adoo hin turin lafa Galiila'aa duudii keessatti addee maratti dhage'ame.

Yesuus Kolbaa Hedduu Fayyise
(Mat. 8:14-17; Luq. 4:38-41)

²⁹ Yesuus Mana Waaqonfannaa Yihudootaati akkuma bayeen, Yaaqoobii fi Yohaannis waliin mana Simooniitii fi Indiryaasii dhage.

³⁰ Yennaa inni achi gewu haat-sodda'aa ta Simoonii dhukkuba nafa o'isuun dhibantee irkatteerti; yoosuma dhibee isi'ii tana isatti himane.

³¹ Yesuus itti dhikaatee, harka isi'ii qabee ol isii kaase; dhukkubi nafa o'isu sun isii lakkise; isiille isaanii areerte.

³² Galgala san aduun seenteen duuba, worra dhibamanee fi worra durri-isotaan qabamane maraa gara isaa fidane.

³³ Kolbaan qachaa sanii martinuu balbala duratti wolitti qabante.

³⁴ Yesuus kolbaa hedduu ka dhukkuba adda addaatiin dhibante fayyise. Inni durriisota hedduulle baase; ammoo durriisoti ebeluu isaa waan beeka-neef, akka isaan waan tokkolle hin dubbanne dhoogge.

Yesuus Galiila'atti Oduu Gammadaa Lallabe
(Luq. 4:42-44)

³⁵ Barii halkaniin, boruun adoo hin diimatin Yesuus ka'ee, manaa gad bayee addee nami hin jirre dhagee, achitti daadimate.

³⁶ Simoonii fi worri isa waliin turane ammoo Yesuus barbaassa bayane.

³⁷ Isaan yennaa isa dhaggane, «Namooti martinuu si barbaadiisatti jiran» jedhaneen.

³⁸ Yesuus ammoo, «Wonni Ani dhufeef lallabiisaaf waan te'eef, ka'aa gara olloota nu'utti aananuu dhandha, ani achille'etti lallabu'uu male» isaaniin jedhe.

³⁹ Maarre, Yesuus lafa Galiila'aa maraa keessa deddeemee, manoota waaqonfannaa Yihudootaa keessatti lallabee, durriisotalle baase.

Yesuus Namicha Tokko Fayyise
(Mat. 8:1-4; Luq. 5:12-16)

⁴⁰ Namichi dhukkuba goga'aa farrisiisa'aan qabameeru tokko gara Yesuusii dhufee, miilatti jigee, «Yoo fedha keeti te'e na fayyisuu† hin dandeetta» jedhee isa gaafate.

⁴¹ Yesuus isaaf gaddee harka diriirfatee isa qabee, «Hin fedha, fayyi!» isaan jedhe.

⁴² Yennuma san dhukkubi goga'aa farrisiisaan namicha lakkisee, namichi fayye.

⁴³ Achiin duuba Yesuus namichaan,

⁴⁴ «Beekkadhu! Waan kana nama tokkolle'etti hin himin; ammoo dhaqiitii hayyichatti‡ ifi mudhisi; akka ati fayyite, nami mara akka beekuuf, fayyuu keetiif, qodha Muuseen ajaje kenni!» jedhee, jabeessee, seeree, isa erge.

⁴⁵ Namichi ammoo achii deemee, akkuma dhagge haasowee oduu biyyaan geye. Kanaaf Yesuus addee qoommi'iititti§ ture malee, qaaleyaan gara qacha'aa seenu'uuf hin dandeenne. Kolbaan ammoo addee maraa gara isaa dhutte.

2

Yesuus Namicha Nafa Laashowe Fayyise

(Mat. 9:1-8; Luq. 5:17-26)

¹ Guyyaa diqqa'aan duuba Yesuus Qifirnaahoomitti deebi'ee gale; kolbaan akka inni galee mana jiru dhageette.

² Kolbaan hedduun haga manni dhiphatee, balbala duraan woliin addee dhabanutti wolitti qabante. Adoo Yesuus jecha Waaqaa isaan barsiisiisatti jiruu,

³ jarri takka nama afur te'anee, namicha nafa laashoweru tokko ba'atane gara Yesuusii fidanee dhufane.

⁴ Kolbaan waan heddatteef gara Yesuusii dhiyeessuu dadhabanee, addee inni jiru gubba'aan heellichoo* manaa xaranee qowa baasane, itillee woliinuu gad buusane.

⁵ Yesuus dhugeeffannaa isaanii dhaggee, namicha nafa laashoween, «Ilma kiyya, cubbuu teeti maraaf araarri kennameera» jedhe.

⁶ Barsiisoti Seera Muuse'ee ka achi tetee'aneeranu tokko tokko,

⁷ «Namichi kun attam akkana dubbata? Kun Waaqa faanshessiisa! Waaqa tokkocha malee eennutti cubbuu namaaf araaramuu dande'a?» jedhanee gadhaa ifii keessatti yaadatane.

⁸ Yesuus yennuma san waan isaan yaadatane nyaba'aan beekke, «Isin maaf waan akkanaa kana yaadattan?

⁹ Namicha nafa laashoween, «Cubbuu teetiif araarri kennameera» jechu'u moo yookiin, «Ol ka'ii, itillee teeti fudhadhuutii deemi» jechu'utti kaso'o?

¹⁰ Ani Ilmi namaa lafa irratti baallii cubbuu namaaf araaramu akka qabu akka beettanu» jedhee, namicha nafa laashoween,

¹¹ «Ani si'iin jedha, ol ka'i! Itillee teeti fudhadhuutii gara mana keetii deemi» jedhe.

¹² Adoo isaan maraa dhagganuu, yennuma san namichi ol ka'ee itillee ifii fudhatee gad bayee deeme. Isaan martinuu guddoo baaseffatane, «Waan akkanaa kana ijjumaa dhagginee hin beennu» jedhaa Waaqa leellisane.

Yesuus Lewwii Waame

(Mat. 9:9-13; Luq. 5:27-32)

¹³ Ammalle Yesuus gara qarqara abbaayaa Galiila'aa dhage. Gumiin guddoon gara isaa dhuttee, inni isaan barsiise.

¹⁴ Inni karaa saniin adoo dabaruu, Lewwii ilma Alfewoosii addee gosee qaraxaa tee'eeruun dhaggee, «Na hordofi» jedheen. Innille ka'ee isa hordofe.

¹⁵ Eega san Yesuus mana Lewwi'iititti sagalee areerratiisatti jiraayyu. Namooti hedduun waan isa hordofaneeranuuf, worri qaraxa guuruu fi cubbaaleyyiin hedduun Yesuusii fi barattoota isaa woliin sagalee areerratiisaaf qori'itti hiiqanee tetee'aneeraniyyu.

‡ 1:44 Hayyichatti: Qeesichatti § 1:45 Qoommi'iititti: Qoonni'iititti * 2:4 Heellichoo: Heellichoon
mana biyya Filisxeemii hin baxxatti malee, akka mana keennaa ol hin luuxxottu

¹⁶ Worra Fariisaayota keessaa barsiisota Seera Muuse'ee ka te'ane, Yesuus worra qaraxa guuruu fi cubbaaleyyii waliin areerratuun dhagganee, «Maaf inni worra qaraxa guuruu fi cubbaaleyyii waliin areerrata?» jedhanee barattoota isaa gaafatane.

¹⁷ Yesuus waan kana dhage'ee, «Namootaan fayyaa hin qanneef malee, fayyaaleyyi'iif ogeessi hin barbaachisu. Ani cubbaaleyyii waamiisaaf malee, balchoota waamiisaaf hin dhunne» isaaniin jedhe.

Gaaffii Marroo Laamiisaa
(Mat. 9:14-17; Luq. 5:33-39)

¹⁸ Guyyaa tokko barattooti Yohaannisiitii fi Fariisaayoti yennaa laamanu, jarri tokko gara Yesuusii dhufanee, «Barattooti Yohaannisiitii fi barattooti Fariisaayotaa hin laaman. Barattooti teeti ammoo maaf laamuu dhaban?» jedhanee isa gaafatane.

¹⁹ Yesuus ammoo deebisee, «Jaaloti waajibaa, adoo inni isaan waliin jiruu hin laamanii? Haga inni isaan waliin jiru hin laamanu.

²⁰ Ammoo guyyaan waajibichi isaan biraa fudhatamu hin dhufa; isaan guyyaa san laaman.

²¹ «Woyaa dullatti'itti erbee haareya eennulle hin erbu; yoo erbe, erbeen haaretti sun woyaa dullattii san shuntuurachiittee[†] hin tarsaatti; tarsa'iisi isi'iille ka qaraa ka caalu te'a.

²² Akkasuma daadhii Woyni'ii ta hin bayin[‡] qalqalluu dulloometti eennulle hin naqu; yoo naqe daadhiin sun qalqalluu san hin dhoochi; daadhi'ii fi qalqalluulle hin badan. Tanaa mannaa daadhiin hin bayin qalqalluu haareyatti naqamuu qaddi» isaaniin jedhe.

Gaaffii Marroo Guyyaa Sanbataa
(Mat. 12:1-8; Luq. 6:1-5)

²³ Guyyaa Sanbataa tokko Yesuus fichaa qamadi'ii keessa dabaruun, barattooti isaa adoo isa waliin ideemanuu qamadii bubuqqifatiisa jalqabane.

²⁴ Fariisaayoti Yesuusiin «Ilaali, barattooti teeti guyyaa Sanbataatiin akka hin tolchine Seeraan waan dhooggame maaf tolchan?» jedhane.

²⁵ Yesuus deebisee, «Daawiti waan nyaatu dhabee, yennaa innii fi worri isaa waliin jiranu beelowane, waan inni tolche isin ijjumaa hin dubbinnee?

²⁶ Bara Abiyaataar Hayyicha Guddaa te'eerutti, mana Waaqaa seenee daabboo Waaqa dura dhikaattu, hayyoota qofaaf ka Seerri kennu nyaatee, worra isa waliin jiranuufille kenne» isaaniin jedhe.

²⁷ Achiin duuba Yesuus «Sanbatattuu namaaf dadame malee, nami Sanbataaf hin dadanne.

²⁸ Maarre Ani Ilmi Namaa Sanbataafille Goota'a» isaaniin jedhe.

3

Yesuus Namicha Harka Naafaa Fayyise
(Mat. 12:9-14; Luq. 6:6-11)

¹ Achiin duuba Yesuus deebi'ee gara Mana Waaqonfannaa Yihudootaa dhage; namichi harki isaa naafateeru tokko achi jiraayyu.

² Jarri Yesuus himachuu fedhanee, guyyaa Sanbataatiin akka inni isa fayyisu gaadanu tokkolle achi jiraniyyu.

³ Yesuus namicha harka naafateeruun, «Ka'iitii nama dura dhaabbadhu!» jedhe.

[†] 2:21 Shuntuurachiittee: Shuntuurrachiittee
Woyni'ii o'ituun

[‡] 2:22 Daadhiin Woyni'ii ta hin bayin: Daadhiin

⁴ Achiin duuba jaralle'een, «Seerri keenna guyyaa Sanbataatiin dansaa moo hantuu tolchuu, yookiin lubbuu fayyisuu moo ijjeesuu nu ajaja?» jedhe. Isaan ammoo cadhisane.

⁵ Yesuus worra cinaa isaa marseeru ila aari'iitiin ilaale; ammoo mataa jabeenna isaaniitiifille gadde. Achiin duuba namichaan, «Harka keeti diriir-fadhu!» jedhe. Yennaa namichi harka ifi diriirfate, harkille deebi'ee fayye.

⁶ Maarre worri Fariisaayotaa gad bayanee, yennuma san golii Heroodisii woliin attamiin akka isa ijjeesuu mari'atane.

Gumiin Guddoon Gara Yesuus Dhutte
(Mat. 12:15-21; Luq. 6:17-19)

⁷ Yesuus barattoota ifi woliin gara cinaa abbaayaa Galiila'aa deeme. Gumiin guddoon Galiila'aa, biyya Yihuda'aatii,

⁸ qachaa Yersaaleemii, biyya Edoomiya'aatii, biyya Yordaanosiin gamaa ta gara aduun baatuutii, adaala qachoota Xiirrosiitii fi Sidooniitii, waan Yesuus hujaa ture mara dhageettee gara isaa dhutte.

⁹ Gumiin guddoon sun akka isa hin cifanneef, akka hoboloo isaa qopheessanu barattoota ifiititti hime.

¹⁰ Inni kolbaa hedduu waan fayyiseeruuf, worri dhukkuba gara garaa qabanu maraa isa harkaan qabatiisaaf gara isaa wol dadarbane.

¹¹ Ayyaanoti hamooti namoota keessa jiranu yennuma isa dhaggane maraa, fuula isaa duratti jigane, «Ati ilma Waaqaa ti» jedhane iyyane.

¹² Yesuus ammoo ayyaanoti hamooti akka ebeluu isaa eennulle'etti hin hinne jabeessee ajaje.

Yesuus Ergantoota Kudhanii Lamaan Filate
(Mat. 10:1-4; Luq. 6:12-17)

¹³ Yesuus gara gaaraa ol bayee, worra barbaade gara ifi waame; isaanille gara isaa dhufane.

¹⁴ Achiin duuba Inni akka isaan Isa woliin te'anuu, Oduu Gammadaa lallabiisaaf akka ergamanu,

¹⁵ durriisota baasiisaafille baallii akka qabaatanu namoota kudhanii lamaan filatee, «Ergantoota» jedhee moggaase.

¹⁶ Worri kudhanii lamaan Inni filatelle, Simoonii Inni «Pheexroos» jedhee moggaase,

¹⁷ Yaaqoobii fi Yohaannisii ilmaan Zabdewoosii, worra Inni «Bo'anerges» jedhee moggaase; akkas jechuulle, «Ilmaan Mandiisu'uu» jechu'u.

¹⁸ Indiryaas, Filiphoos, Bartolomewoos, Maatewoos, Toomaas, Yaaqoobii ilma Alfewoosii, Taadewoos, Simoonii «Hinaatticha» jedhamee beekkamee fi

¹⁹ Yihudaa nama qachaa keriyootii, ka isa dabarsee kenne.

Yesuusii fi Bi'el Zebul
(Mat. 12:22-32; Luq. 11:14-23; 12:10)

²⁰ Achiin duuba Yesuus gara manaa yennaa gale, haga innii fi barattooti isaa sagaleelle nyaachuu dadhabanutti gumiin ammalle wolitti qabante.

²¹ Kolbaan, «Inni maraateera» waan jetteef, firootan isaa kana dhage'anee isa qabiisaaf dhufane.

²² Barsiisoti Seeraa worri Yersaalemii dhufane ammoo, «Bi'el Zebul* isa keessa jira! Inni hunna mooticha durriisotaatiin durriisota baasa» Yesuusiin jedhane.

²³ Jennaan Yesuus gara ifi isaan waamee, «Attamiin Seexanni Seexana baasuu dande'a?

* **3:22** *Bi'el Zebul*: Mooticha ayyaanota hamootaa

²⁴ Mootummaan takka yoo ifi falmitee gargar ifi qoodde, mootummaan sun hin diiganti.

²⁵ Maatiin takka yoo ifi falmitee gargar ifi qoodde, maatiin sun hin xexeer-anti.

²⁶ Maarre Seexannille ifi falmee, yoo ifi gargar qoode, sun badii isaa ti malee dhaabbachu'uuf hin dande'u.

²⁷ «Eennulle duraan dursee namicha jabaa yoo hidhe malee, mana nama jabaa tokkoo seenee meya isaa saamu'uuf hin dande'u; hidheen duuba ammoo mana isaa saamu'uuf hin dande'a.

²⁸ «Ani dhugumaan isinitti hima, cubbuun maraa fi dubbiiin arrabaa marti afaan namaa keessaa yoo baate, ilmaan namaatiif araarri hin kennama.

²⁹ Eennulle Ayyaana Woyyichaan mormee dubbii arrabaa yoo dubbate ammoo, yakkaamessa cubbuu bara baraa te'a malee, ijumaa araara hin dhaggatu» jedhee isaanitti mammaake.

³⁰ Yesuus sababa kolbaan, «Inni ayyaana hamaa qaba» jetteertuuf akkana jedhe.

Haadhaa fi Obboleeyyan Yesuusii (Mat. 12:46-50; Luq. 8:19-21)

³¹ Achiin duuba haati Yesuusiitii fi obboleeyyan isaa dhufanee ala dhaabbatane, itti erganee isa waansisane.

³² Gumiin cinaa isaa marsitee teetteertu Yesuusiin, «Kunoo, haati teetii fi obboleeyyan teeti ta dhiiraatii fi ta durraa alaa si barbaadiisatti jiran» jedhane.

³³ Yesuus deebisee, «Haati tiyyaa fi obboleeyyan tiyya eennu fa'a?» isaaniin jedhe.

³⁴ Inni gara worra isa marsee te'eeru midhatee, «Kunoo, haati tiyyaa fi obboleeyyan tiyya worra as jiranu kana!

³⁵ Fedhii Waaqaa ka muummessu eennuuyyuu obboleessa kiyya, obboleettii tiyya, haadha tiyyalle'e» jedhe.

4

Mammaassa Namicha Midhaan Facaasuu (Mat. 13:1-9; Luq. 8:4-8)

¹ Yesuus cinaa abbaayaa Galiila'aatitti ammalle barsiisuu jalqabe. Gumiin sonaan guddo'oo isa biratti wolitti qabantee jennaan, Yesuus hoboloo yaabee Abbaayaa gubba'atti keessa tee'e. Gumiin sun maraa ammoo lafa irra qarqara abbaayaa sanii dhaabbatteertiyyu.

² Yesuus waan hedduu isaan barsiisiisaaf itti mammaakee:

³ «Caqasa'a! Namichi tokko midhaan facaasu'uuf baye.

⁴ Adoo inni facaasuu, midhaan gariin karaa qarqara harca'e; sinbirreelle dhuttee qocatee nyaatte.

⁵ Gariin ammoo lafa dhakittii, lafa biyyee guddoo hin qanne irra harca'e; lafi inni irra harca'e biyyee gad fageenna waan hin qanneef ariifatee mudhe.

⁶ Yennaa aduun itti baate ammoo qoore; hidda gad fago'oo waan hin qanneef goge.

⁷ Gariin qoree keessa harca'e; qoreelle guddattee isa huute; innille midhaan hin buune.

⁸ Gariin ammoo biyyee dansaa keessa harca'e; innille mudhee, guddatee, midhaan buuse: gariin midhaan soddoma, gariin midhaan jaatama, gariin midhaan dhibba buuse!*» jedhe.

⁹ Achiin duuba Yesuus, «Gurra dhage'u ka qabu dhage'uu ti» jedhe.

Mammaassi Maaf Akka Barbaachise
(Mat. 13:10-17; Luq. 8:9-10)

¹⁰ Yennaa Yesuus qofi jiru, worri adaala isaa jiranu fi barattooti kudhanii lamaan waan mammaassa kanaa isa gaafatane.

¹¹ Yesuus deebisee, «Dhossaan† mootummaa Waaqaa isiniif kennanteerti‡; worra ala jiruuf ammoo wonni maraa mammaasaan himama.

¹² Wonni himamuufille,
«Isaan ilaalanee ilaalaneele,
ijjumaa akka hin dhaggine;
dhage'ane dhage'aneelle,
ijjumaa akka hin hubanne;
gara Waaqaa deebi'ane
innille isaaniif akka hin araaranneefii» isaaniin jedhe.

Hiikkaa Mammaassa Namicha Midhaan Facaasuu
(Mat. 13:18-23; Luq. 8:11-15)

¹³ Achiin duuba Yesuus isaaniin, «Mammaassi kun isiniif hin galuu? Eega-suu attamiin mammaassa dhibii hubattan ree?

¹⁴ Namichi facaasu jecha Waaqaa facaasa.

¹⁵ Midhaan karaa qarqara harca'e, fakkeenaa worra jecha Waaqaa akkuma dhage'aneen, Seexanni dhufee jecha dhage'ane san isaan keessaa fudhatuu ti.

¹⁶ Midhaan lafa dhakiti'itti harca'e, fakkeenaa worra jecha Waaqaa akkuma dhage'aneen gammadaan fudhatanuu ti.

¹⁷ «Ammoo isaan hidda gad fago'oo hin qabanu; yenna'aaf hin dhaabbatan; sababa jecha Waaqaatiif rakinni yookiin miidhaan§ yennaa ka'u yoosuma jigan.

¹⁸ Midhaan daggala qore'ee keessatti harca'e, fakkeenaa worra jecha Waaqaa caqasuu ti.

¹⁹ Ammoo yaaddoon waan lafa tanaa, badhaadhi durumma'aa, halchaan waan adda addaa itti seentee, jecha Waaqaa huutee midhaan adoo hin buusin hafan.

²⁰ Midhaan lafa dansaa keessatti harca'e ammoo, fakkeenaa worra jecha Waaqaa dhage'ane fudhatanee, gariin midhaan soddoma, gariin midhaan jaatama, gariin midhaan dhibba buusanuu ti» jedhe.

Mammaassa Ifa Gombisoo Jalaa
(Luq. 8:16-18)

²¹ Yesuus itti aansee, «Nami ifa fidee qorii jala yookiin taqee jala hin keyaa? Addee mudhatutti fannisaa motii?

²² Wonni dhokatteertu yoo jiraatte, gara mudhattutti hin baati; wonni dhossa'aa yoo jiraatte, gara ifaatitti hin baati.

²³ Nami gurra dhage'u qabu dhage'uu ti» isaaniin jedhe.

* **4:8** Kitaab gariin, gariin dachaa soddoma, gariin dachaa jaatama, gariin dachaa dhibba buuse jedha; akkas jechuun midhaan soddoma, yookiin jaatama yookiin dhibba buuse jechu'u. † **4:11** Dhossaan: Iccitiin, misxiriin, fojoon, gonci ‡ **4:11** Kennanteerti: Himanteerti § **4:17** Miidhaan: Ari'amuun **4:22** Mat. 10:26; Luq. 12:2

²⁴ Yesuus itti dabalee, «Waan dhageettanu qalbeeffadha'a! Waan namaaf ittiin safartanutti isinille'eef hin safarama; caalchifameelle isiniif hin ken-nama.

²⁵ Nama wo gabuuf, itti dabalamee hin kennamaaf; nama womaa hin qanne ammoo, ka inni qabuuyyuu isa irraa hin fudhatama» isaaniin jedhe.

Mammaassa Midhaan Ifumaan Mudhee Guddatuu

²⁶ Yesuus itti aansee, «Mootummaan Waaqaa nama ficha'atti midhaan fa-caasee fakkaatti.

²⁷ Namichi galee halkan hin rafa, guyyaa hin ka'a; midhaan sun ammoo adoo inni hin beekin mudhee guddata.

²⁸ Biyyeen ifumaan akka midhaan latee guddatu gooti; dursee mudhee obba, itti aansee daraara, achiin duuba midhaan buusa.

²⁹ Yennaa midhaan sun bilchaate, haammaan waan geetteef, yennuma san inni haantu'uun haama» jedhe.

Mammaassa Midhaan Sanaafici'ii (Mat. 13:31-32; Luq. 13:18-19)

³⁰ Yesuus ammalle, «Mootummaa Waaqaa maaniin wol fakkeessina? Yookiin mammaassa kamiin isii hinna?

³¹ Isiin akka midhaan Sanaafici'ii* ti. Midhaan isi'ii yennaa lafatti fa-caafamu midhaan biyya lafaa maraa irra hin diqqaata.

³² Inni yennaa facaafame, latee hin guddata; waan ficha'atti facaafame maraa irra ka caalu te'a; dameelee gugurdoo hin baasa. Sinbirreen dhuttee gaaddisa damee isaa jalatti mana ijaarratti» jedhe.

³³ Yesuus mammaassa hedduu ka kana fakkaatuun haga hubantii isaani-ititti jecha isaanitti hime.

³⁴ Inni mammaasaan malee isaanitti hin dubbanne; ammoo yennaa barattoota ifii woliin qofi jiru, waan maraa isaanii hiike.

Yesuus Bubbee Cadhisiise (Mat. 8:23-27; Luq. 8:22-25)

³⁵ Yesuus gaafuma san galgala barattoota ifitiin, «Ka'aa, gara abbaaya'aan gamaa buunaa» jedhe.

³⁶ Barattooti isaa gumii achi jirtu lakkisane, akkuma inni duraanuu hoboloo keessa tee'eeruun Yesuus fuudhanee deemane; hobolooti dhibiille woliin deemane.

³⁷ Dedhuma bubbeen bubbittee, danbaliin† bisaanii hobolo'otti dhangalaatee guutiisa geette.

³⁸ Yesuus hoboloo san keessa gara duubaatiin boraafatee rafeeraayyu. Barattooti isaa isa dammassanee, «Barsiisa'a! Yoo nu dhumannu womaa si hin dhibuu!» jedhane.

³⁹ Yesuus dammaqee bubbee saniin, «Cadhisi!» jedhee xixe. Danbalii bisaaniitille'een, «Sarmi!» jedhe. Bubbeen cadhinnaan, cadheessi guddaan te'e.

⁴⁰ Achiin duuba barattoota ifitiin, «Maaf guddoo sodaattane? Haga ammaa dhugeeffannaa hin qaddanuu?» jedhe.

⁴¹ Isaan ammoo guddoo sodaatane, «Ka bubbe'ee fi danbaliille isaaf ajajamanu kun eennu inni?» woliin jedhane.

* **4:31 Sanaaficii:** Sanaaficiin waan ficha'atti dhaabbanuu fi nyaatantu teetee, midhaan isi'ii imiimii akka midhaan muka danbi'iiti † **4:37 Danbaliin:** Danbalaan

5

Yesuus Ayyaana Hamaa Namicha Tokko Keessaa Baase
(*Mat. 8:28-34; Luq. 8:26-39*)

¹ Yesuusii fi barattooti isaa Abbaayaa Galiila'aatiin gama, gara biyya Gergeesa'aa dhufane.

² Akkuma Yesuus hoboloo irraa bu'een, namichi ayyaanni hamaan qabeeru tokko addee goda awwaalaa keessaa bayee gara isaa dhufe.

³ Namichi kun irreensota odduu le'eera; eennulle wodaroo sibiilaati-ille'een isa hidhuu hin dandeenne.

⁴ Inni yennaa hedduu wodaroo sibiilaatii fi sibiila miilaatiin hidhamaa ture; ammoo wodaroo sibiilaa ifi irraa kukkuta, sibiila miilaalle butuchaa ture. Kanaaf nami tokkolle gad isa qabuu hin dandeenne.

⁵ Namichi yennaa maraa halkanii fi guyyaa odduu irreensotaatitti yookiin gaara gubbaa dhaqee iyyaa, dhakaalle'een ifi duguugaa ture.

⁶ Inni fago'otti Yesuus dhaggee, gara isaa fiigee, duratti jilbiiffatee,

⁷ iyyee lallabee, «E! Yesuus Ilma Waaqa Ol Aana'aa! Maan na irraa qadda? Ani si kadhadaa, magannee Waaqaa na hin rakkisin!» jedhe.

⁸ Yesuus isaan, «Ati ayyaana hama'a, namicha kana keessaa bayi!» waan jedheeruuf, inni akkana jedhe.

⁹ Yesuus, «Maqaan keeti eennu?» jedhee isa gaafate.

Innille, «Maqaan kiyya duula; nuuti baca'a» jedhee deebise.

¹⁰ Ammalle inni ayyaana hamaa baca'a san adaala godina saniitii akka hin baanneef, jabeessee Yesuus kadhate.

¹¹ Yennaa san, adaala san roga gaaraa irra, booyyeen hedduun bobbaatee dheediisatti jirtiyyu.

¹² Maarre ayyaanoti hamooti sun, «Booyyota sanitti akka galluuf itti nu ergi!» jedhanee Yesuus kadhatane.

¹³ Innille akka isaan itti galanuuf eeyyame. Ayyaanoti hamooti namicha keessaa bayanee booyyota sanitti galane. Booyyoti hedduun ta haga kuma lamaaniititti laakkowantu sun, roga qile'ee irraa gad gara abbaaya'aa oriitee liqinfante.

¹⁴ Worri booyyee tissanu baqatanee, oduu tana worra qachaa keessaatii fi worra adaala saniititti odeessane. Namooti waan te'e kana ilaalu'uuf dhufane.

¹⁵ Yesuus bira yennaa geyane, namichi duula ayyaana hama'aatiin qabamee ture sun woyaa uffatee, qalbiin deebitee achi te'eeruun dhagganee sodaatane.

¹⁶ Worri dhaggane sun, waan namichi ayyaanni hamaan keessa ture sunii fi booyyoti maan akka te'ane kolba'atti odeessane.

¹⁷ Achiin duuba isaan akka Yesuus adaala biyya isaaniitii deemuuf gaafatane.

¹⁸ Yesuus achii deemiisaaf adoo hoboloo yaabiisatti jiruu, namichi ayyaana hama'aan qabameeru sun, «Ani si woliin deema» jedhee isa kadhatane.

¹⁹ Yesuus ammoo didee, «Gara manaa keetii deebi'ii gali; waan guddoo attamii Gootaan akka si'iif godhe, attam akka inni si'iif arjoome worra keetiif himi!» isaan jedhe.

²⁰ Maarre namichi deemee, biyya qachoota kudhan jedhantu keessatti, waan guddoo Yesuus isaaf godhe maraa odeesse. Worri dhage'ane martinuu jajane.

Intala Yaayiroosiitii Fi Dubartittii Woyaa Yesuusii Tuxxe
(*Mat. 9:18-26; Luq. 8:40-56*)

²¹ Yesuus deebi'ee hobolo'oon gara abbaaya'aan gamaa qaxxaamure. Yenna inni qarqara abbaaya'aa jiru, gumiin guddoon isa biratti wolitti qabante.

²² Bulchitoota Mana Waaqonfannaa Yihudootaa keessaa namichi tokko, ka maqaan isaa Yaayiroos jedhamu dhufee, yenna Yesuus dhagge, miila isaatitti gad jige,

²³ «Intalti tiyya diqqayyittiin dhukkuffattee du'iisa geetteerti. Akka isiin fayyituuf maganne'ee koyiitii harka keeti isii irra keyi!» jedhee jabeessee kadhate.

²⁴ Achiin duuba Yesuus Yaayiroos woliin deeme. Namooti hedduun isa gula deemanee gara maraanuu isa dhiphisane.

²⁵ Dubartiin woggaa kudhanii lamaa dhiigi isi'ii jigaa rakkattu takkalle achi jirtiyyu.

²⁶ Ogeessaan adoo cidhoommattuu guddoo rakkattee, waan qaddu maraa kanuma irratti fixxe. Dhibeen ammoo ittuma hammaatte malee hin goonne.

²⁷ Gurra Yesuusii yenna dhageette, gumii san odduu, dudda isaa duubaan dhuttee woyaa isaa tuxxe.

²⁸ Isiin, «Woyuma isaalle yoo tuqe ani hin fayya» jedhaa gadhaa ifititti yaadataa turte.

²⁹ Yennuma san dhiigi isi'ii lola'uu lakkisee, dhibee ifii irralle'ee akka fayyite itti dhage'ame.

³⁰ Yesuus yennuma san hunni fayyittu isa keessaa akka baate beekke, gumii oddu'utti ifi irra garagalee, «Eentu woyaa tiyya tuqe?» jedhee gaafate.

³¹ Barattooti isaa, «Akka gumiin si dhiibiisatti jirtu adoo dhaggituu, «Eentu na tuqe?» jettee gaafattaa?» isaan jedhane.

³² Yesuus ammoo nama isa tuqe dhaggiisaaf cinaa ifii ilaale.

³³ Dubartittiin waan isi'iif godhame hubattee, sodaataa hollataa dhuttee miila Yesuusiititti jiddee, dhugaa jirtu maraa isatti hinte.

³⁴ Yesuus isi'iin, «Ee intala tiyya, dhugeeffannaan teeti si fayyitteerti; nageyaan deemi; dhibee teeti irralle'ee fayyi» jedhe.

³⁵ Adoo Yesuus kana dubbatiiisatti jiruu, namooti gariin mana Yaayiroosii bulchaa Mana Waaqonfannaa Yihudootaati dhufanee, «Intalti teeti duuteerti. Yoona maaf barsiisaa rakkitta?» isaan jedhane.

³⁶ Yesuus ammoo, waan dubbatame san tuffatee, bulchaa Mana Waaqonfannaa Yihudootaa saniin, «Hin sodaatin, dhugeeffadhu malee!» jedhe.

³⁷ Yesuus: Pheexroos, Yaaqoobii fi Yohaannisii obboleessa Yaaqoobii malee, nami tokkole isa gula mana namichaa akka dhaquuf hin barbaanne.

³⁸ Gara mana bulchaa sanii yenna geyane, Yesuus namoota caancanuu fi bowaa wiiccifatanu dhagge.

³⁹ Inni mana seenee, «Maaf caancitanee boottan? Intalti rafiiisatti jirti malee, hin duune» isaaniin jedhe.

⁴⁰ Isaan ammoo itti kollane. Achiin duuba inni isaan maraa gara alaa yaasee, abbaa, haadha intalaatii fi barattoota ifii sadiin fudhatee, addee intalti jirtu seene.

⁴¹ Harka isi'ii qabee, «Xaliitaa quumii!» jedheen; akkas jechuun «Intala diqqayyoo! Ol ka'i!» jechu'u.

⁴² Intaltille yoosuma kaatee asii fi achi deente. Isiin intala woggaa kudhanii lamaa ti. Yenna san isaan akka malee baaseffatane.

⁴³ Yesuus ammoo, akka isaan eennulle'etti hin hinne jabeessee seere. Achiin duuba «Waan nyaattu isi'iif kenna'a!» jedhe.

6

*Yesuus Naaziretitti Tuffatame**(Mat. 13:53-58; Luq. 4:16-30)*

¹ Yesuus addee san lakkisee, gara qachaa ifii itti guddatee barattoota ifii waliin dhaqe.

² Guyyaa Sanbataa, Mana Waaqonfannaa Yihudootaatiitti barsiisuu jalqabe. Namooti hedduun achi jiranu, yennaa isa dhage'ane jajanee, «Wonna kana mara inni attam dande'ee huja? Baasota kana huju'uuf qarumma'aa fi hunna akkasii inni eessaa dhaggate?

³ Inni ilma Maariyaami'ii ka muka bocuu motii? Obboleeyyan isaalle Yaaqoob, Yoseef, Yihuda'aa fi Simoon fa'aa motii? Qachaa keenna keessa ammaa tanalle le'anii motii?» jedhane isa tuffatane, isa fudhatiisa didane.

⁴ Yesuus ammoo, «Raagaan tokko, addee dhibi'itti malee, biyya ifii, firoottan ifitii fi maatii ifii keessatti ulfinna hin qabu» isaaniin jedhe.

⁵ Yesuus worra dhibameeru diqqaa tokko irra harka ifii keyee fayyise malee, baasota dhibii achitti hujisaaf hin dadeenne.

⁶ Dhugeeffannaa dhabuun kolba'aa isa maadeffachiitte.

*Yesuus Ergantoota Kudhanii Lamaan Erge**(Mat. 10:5-15; Luq. 9:1-6)*

Yesuus olloota adaala sanii mara keessa dhaqee barsiise.

⁷ Achiin duuba inni ergantoota kudhanii lamaan gara ifii waamee ayyaanota hamoota irratti baallii isaaniif kennee, lamaan lamaaniin isaan erge.

⁸ Inni isaaniin, «Ideemiisa kara'aatiif ulee malee, galaa, subba, beesee marxo'otti, waan tokkolle hin qabatina'a.

⁹ Kophee keyadha'a; woyaa uffatane malee ta dhibii hin qabatina'a.

¹⁰ Yennaa keessummummaa manatti isin fudhatane, haga qachaa sanii deentanutti manuma san keessa tura'a.

¹¹ Yoo qachaa kolbaan isin hin fudhanne yookiin isin hin dhageenne dhaxxane, akka beessisa isaanitti teetu yennaa achii deentanu bukuu miila keessanii dhodhowadha'a» jedhe.

¹² Maarre ergantooti deemanee, kolbaan cubbuu irraa akka deebitu himiisa jalqabane.

¹³ Isaan ayyaanota hamoota hedduu baasane, worra dhibamaa hedduulle zayitii* issanee fayyisane.

*Du'a Yohaannisii Cuupha'aa**(Mar. 14:1-12; Luq. 9:1-6)*

¹⁴ Gurri Yesuusii addee maratti waan beekkameeruuf, Heroodisiin mootichi waan isaa dhage'e. Worri gariin, «Yohaannisii cuupha'atti ka'eera; hujii baasaa tun isaan hujanti» jedhane.

¹⁵ Worri kuun, «Inni Eliyaas» jedhane; kuun ammoo, «Inni raagichuma akka raagota durii ti» jedhane.

¹⁶ Heroodis gurra Yesuusii yennaa dhage'e ammoo, «Yohaannisii ani morma isaa mursiisettuu du'aa ka'e» jedhe.

¹⁷⁻¹⁸ Heroodis wosoo ifi Heroodiyaas niitii Filiphosii fuudheeraayyu. Yohaannis ammoo isaan, «Wosoo teeti fuudhuun seeraa moti!» waan jedheeruuf, inni isii gammachiisu'uuf, Yohaannis qassiisee mana hidha'aatitti hiisise.

* **6:13** Zayitii: Akkuma Gujiin dhadhaa muudatu yookiin iffatu, worri Yihudootaalle zayitii muka ejersaa irraa hujante muudatan yookiin iffatan **6:17-18** Luq. 3:9-20

19-20 Heroodiyaas Yohaannisitti haloonfattee, isa ijjeesisiisaaf barbaadde. Yohaannis nama balcha'aa fi woyyuu akka te'e beekee, Heroodis isa so-daatee waan eessisaa tureef, isiin ammoo isa ijjeesiisu'uuf hin dandeenne. Heroodis yennaa dubbii Yohaannisii dhage'e gadhaa lama te'e. Te'ulle inni yennaa hedduu gammadaan isa caqasaa ture.

21 Heroodis guyyaa jila qaabbii dhaloota ifitiif jedhee qondaaltota gugurdoo biyya ifii, dura aantota worra woraanaatii fi Galiilaa keessatti worra beekkamaneeff waamicha godhe irratti, Heroodiyaas karaa dhaggatte.

22 Intalti Heroodiyaasii ol seentee yennaa sirbite, Heroodisii fi keessumoota isaa gammachiitte. Heroodisille intalaan, «Waan barbaadde mara na gaafadhu; ani si'iif hin kennaa!» jedhe.

23 Ammalle, «Wol qixxee mootummaa tiyyaalle, waan ati na gaafatte mara si'iif hin kenna» jedhee kakate.

24 Maarre intalti gad baatee, «Maan gaafadha?» jettee haadha ifii gaafatte. Haati ammoo, «Mataa Yohaannisii cuupha'aa» jettee deebiteef.

25 Yennuma san intalti gara Heroodisii ariifattee deebitee, «Ammuma tana mataa Yohaannisii cuupha'aa qori'itti akka ati naaf kennitu barbaada» jetteen.

26 Waan kanaaf Heroodis akka malee gadde; ammoo keessumoota ifii duratti kakuu waan galeef jedhee, dubbii isi'ii diduu hin barbaanne.

27 Yennuma san Heroodis eedduu keessaa lolticha tokko ergee, mataa Yohaannisii akka fiduuf ajaje. Loltichi sun dhagee mana hidha'aa keessatti mataa Yohaannisii irraa kute.

28 Achiin duuba mataa isaa san qorii keessa keyee fidee intalatti kenne; intaltille haadha ifititti kennite.

29 Barattooti isaa waan kana yennaa dhage'ane reeffa isaa fuudhanee awwaalane.

*Yesuus Nama Kuma Shanii Areere
(Mat. 14:13-21; Luq. 9:10-17; Yoh. 6:1-14)*

30 Ergantooti gara Yesuusii yennaa deebi'ane, waan hujanee fi waan barsiisane mara isatti himane.

31 Namooti hedduun kuun dhufaa kuun deemaa waan jiranuuf, Yesuusii fi barattooti isaa yennaa areeratanulle dhabane. Tanaaf inni isaaniin, «Ka'aa me takkaa addee qoommi'iititti baaneen foorfattanii» jedhe.

32 Maarre isaan hobolo'oon qofuu addee qoommi'ii dhaqane.

33 Namooti hedduun ammoo isaan deemaaranuun dhagganee hubatane; worri qachoota mara keessaa dhufane miilaan fiigane isaaniin dura achi geyane.

34 Yesuus qarqara bisaaniititti hoboloo keessaa yennaa baye, gumii gud-doo ta akka hoolota tissee hin qannee fakkaattu dhaggee isi'ii gadde. Maarre inni waan hedduu isaan barsiisiisa jalqabe.

35 Yennaa latti galgalootte barattooti isaa gara isaa dhufanee, «Addeen tun urma†, lattille dhiitteerti.

36 Gumiin tun gara olla'aa fi oorruu as aananuu kana dhaqanee, waan nyaatanu akka bitatanuuf gad lakkisi!» jedhane.

37 Yesuus deebisee, «Isin waan nyaatanu isaaniif kenna'a!» jedhe. Isaan ammoo, «Dhandhee mindaa gara woggaa tokkootitti dhikaatuun‡ daabboo binnee isaanii kenninaa ree?» jedhanee gaafatane.

† 6:35 Urma: Ulma ‡ 6:37 Mindaa gara woggaa tokkootitti dhikaatuun: Beesee dinaaraa dhibbaan

³⁸ Jennaan inni, «Daabboo meeqa qaddan? Dhaqa'aatii ilaala'a!» isaaniin jedhe. Isaan meeqa akka teete beekaneen duuba, «Daabboo xaltaa lama» jedhaneen.

³⁹ Yesuus akka isaan namoota maraa cinna cinnaan marra bisilee irra teessisanu barattoota ifiititti hime.

⁴⁰ Isaanille cinna dhibba dhibbaan, shantama shantamaan tee'ane.

⁴¹ Yesuus xaltaa shanii fi qurxummii lamaan fuudhee gara ol-gubba'aa ilaalee eebbise. Achiin duuba xaltaa daabbo'oo san caccassee, kolba'aaf akka goodanu barattoota ifiititti kekenne. Inni qurxummii lamaan sanille akka nama mara geettuuf kukkute.

⁴² Nami maraayyuu nyaatee quufe.

⁴³ Barattooti isaa hambaa daabbo'ootii fi qurxummi'ii kollonjoo kudhanii lama mijuu fuudhane.

⁴⁴ Kolbaan sagalee san nyaatte dhiirti callaanuu kuma shan.

Yesuus Bisaan Gubbaa Ideeme
(Mat. 14:22-33; Yoh. 6:16-21)

⁴⁵ Yennuma san, Yesuus adoo kolbaa ifi irraa geegessiisatti jiruu, barattooti isaa hoboloo yaabaneen isaan dura abbaaya'aan gama gara Betsayida'aa akka deebi'anee bu'anu tolche.

⁴⁶ Inni kolbaa saniin nageyatti jedheen duuba daadimatiisaaf gara gaaraa ol baye.

⁴⁷ Yennaa galgalaalle inni qofuu achi jiraayyu; hoboloon ammoo odduu abbaaya'aa jirti.

⁴⁸ Bubbeen gara isaanii waan bubbitteef, shaffisa'aan bisaan gurduum-mataa§ rakkataa akka turane dhagge. Halkan gara iyya lukku'uu ta lam-meesso'ootitti Yesuus bisaan gubbaa ideemaa gara isaanii dhufee, cinaa isaanii akka dabaruu te'e.

⁴⁹ Yesuus bisaan gubbaa ideemuun barattooti yennaa dhaggane, ekeraa seyaneen iyyane.

⁵⁰ Isaan maraa yennaa isa dhaggane bararaqane. Yesuus ammoo yennuma san, «Jabaadha'a! Wonni Ana; hin sodaatina'a!» isaaniin jedhe.

⁵¹ Inni hoboloo isaanii yaabee jennaan, bubbeen cadhitte. Barattooti akka malee baaseffatane.

⁵² Qalbiin isaanii waan duuddeertuuf, isaan baasa inni daabbo'oon hojja-teeyyuu hubatuu hin dandeenne.

Yesuus Genesaarexitti Worra Dhibame Fayyise
(Mat. 14:34-36)

⁵³ Yesuusii fi barattooti yennaa hobolo'oon abbaaya'aan gamatti qaxxaamuraneen, Genesaarexitti lafatti bayane, qarqara bisaaniititti hoboloo hidhatane.

⁵⁴ Akkuma isaan hoboloo keessaa bayaneen, kolbaan Yesuus akka te'e beette.

⁵⁵ Maarre isaan adaala godina sanii duudii keessa fiiganeen, addee inni achi jira jechuu dhage'ane maratti, worra dhibamane rare'een gara isaa fidane.

⁵⁶ Addee Yesuus dhage, olloota, qachoota, oorruu yookiin lafa dikko'oo maratti, worra dhibamaa gara lafa qaaleyaa yaasaneen, handaaruma woyaa isaalle tuqiisaaf isa kadhatane. Worri handaara woyaa isaa tuqane maraayyuu fayyane.

7

*Seera Waaqaatii Fi Aadaa Maanguddo'oo**(Mat. 15:1-9)*

¹ Fariisaayotaa fi barsiisoti seera Muuse'ee ka Yerusaaalemii dhufane gariin, Yesuus biratti wolitti qabamane.

² Barattooti Yesuusii gariin, akka seera isaaniititti, harka dhiqachu'uun adoo ifi hin qulleessin harka xuri'iitiin sagalee nyaatanuun dhaggane.

³ Worri Fariisaayotaa fi Yihudoota te'ane maraayyuu, aadaa maanguddoota isaanii waan ulfeessanuuf, harka ifii miidhassanee adoo hin dhiqatin hin nyaatanu.

⁴ Yennaa dikko'oo galanu adoo dhiqatanee ifi hin qulleessin hin nyaatanu.* Seerri abbootii isaanii ka isaan ulfeessanu ka dhibiille heddu'utti jira; meya itti unanu, meya bisaanii, meya sibiila diimaa irraa hojjatame, [tageelle] hin dhiqan.

⁵ Tanaaf Fariisaayotii fi barsiisoti Seera Muuse'ee, «Barattooti teeti aadaa maanguddoota teennaa ulfeessuu didanee harka xuri'iitiin maaf sagalee nyaatan?» jedhanee Yesuus gaafatane.

⁶ Yesuus deebisee, «Isin kijiboole'e! Isaayaas marroo teessaniif: «Kolbaan tun afaaniin na ulfeessiti; gadhaan isi'ii ammoo na irraa fago'oo.

⁷ Aadaa namaa akka seera Waaqaatitti barsiisaa, na waaqonfatuun isaanii gatii hin qabu» jedhee ka raage dhuga'a.

⁸ «Isin ajaja Waaqaa ulfeessuu diddane, aadaa namaa ulfeessitan» isaaniin jedhe.

⁹ Yesuus itti aansee, «Aadaa teessan hordofiisaaf jettanee ajaja Waaqaa didu'uuf mala dansaa qaddan.

¹⁰ Muuseen, «Haadhaa fi abbaa keeti ulfeessi!», «Abbaa ifitii fi haadha ifii ka abaaru ijjeefamuu ti» jedhee ajajeera.

¹¹ Isin ammoo nami abba'aa fi haadha ifii gargaaru'uuf male tokko, isaaniin, wonni silaa isiniif kennu, «Qurbaana te'eera» akkas jechuun Waaqaaf kennameera yoo jedhe,

¹² duuba inni deebi'ee abbaa ifitii fi haadha ifitiif waan tokkolle akka godhuuf hin eeyyantanu.

¹³ Aadaa teessan ta wol wolitti daddabarsitane hordofu'uuf jecha Waaqaa lakkittane. Isin waan hedduulle ta tana fakkaattu tolchitan» isaaniin jedhe.

*Waan Nama Batteessu**(Mat. 15:10-20)*

¹⁴ Ammaalle Yesuus gumii gara ifii waamee, «Isin martinuu waan ani jedhu caqasa'aatii hubadha'a!

¹⁵ Wonni alaa gara afaan namaa seenu tokkolle nama hin batteessu; wonni afaan namaa keessaa bawu ammoo nama batteessa. [

¹⁶ Gurra dhage'u nami qabu dhage'uu ti]» isaaniin jedhe.

¹⁷ Yennaa Yesuus gumii dhiisee gara manaa seene, barattooti isaa akka inni mammaassa kana hiiku isa gaafatane.

¹⁸ Inni ammoo, «Isinille akkuma worra kaanii adoo hin hubatin jirtanii? Wonni alaa gara gadhaa namaa galu maraa nama batteessiisa akka hin dandeenne isin hin hubattanuu?

¹⁹ Sagaleen gara qalbii namaa hin seentu; gara gadhaa namaa seentee nafa keessaa baati» isaaniin jedhe. Tana jechu'uun sagaleen martinuu nyaataaf qullittii akka teete beessise.

²⁰ Yesuus itti aansee, «Waan qalbii namaa keessaa bawutti nama batteessa.

* 7:4 Hiikkaan gariin waan dikko'oo bitane mara adoo hin dhiqin hin nyaatanu

²¹ Wonni qalbii namaa keessaa bawu: yaada hamaa, sagaagaluu, hatuu, ijjeessuu,

²² gaarayyeeffatuu, joljooluu, hammeenna, sobuu, fariisaa, hinaaffaa, maqaa balleessuu, kooru'uu fi gowwu'u.

²³ Wonni hantuun tun mara qalbii namaa keessaa baatee nama batteessiti» jedhe.

Dhugeeffannaa Dubartii Takkaa

(Mat. 15:21-28)

²⁴ Yesuus achii deemee gara biyya Xiirroosiitii fi Sidoonii dhagee, mana tokko seene. Akka inni achi jiru eennulle akka beekuuf hin barbaanne; ammoo dhokatiisaaf hin dandeenne.

²⁵ Dubartiin takka, ta intalti isi'ii ayyaana hama'aan qabanteertu, gurra Yesuusii dhageettee, dhuttee miila isaatitti jidde.

²⁶ Dubartittiin tun nama Giriikii ti; isiin lafa Finiqee jedhantu ta biyya Sooriya'aa keessatti dhalatte. Isiin akka durriisa intala isi'ii keessaa baasuuf Yesuus kadhatte.

²⁷ Yesuus ammoo, «Me qara ijoolleen nyaattee quuttuu ti; sagalee ijoolle'ee fuudhanee sare'eef qolaansuun dansa'aa moti» isi'iin jedhe.

²⁸ Isiin ammoo deebittee, «Gootaa kiyya, sareelle harcaa qorii ijoolle'ee keessaa harcaate nyaatti» jetteen.

²⁹ Yesuus deebisee, «Waan akkas dubbatteef, durriisi intala teeti keessaa bayeera; gara mana keetii deemi» isi'iin jedhe.

³⁰ Dubartittiin gara manaa deebitee galtee, intala isi'ii keessaa durriisi bayee, taqee irra irkatteertuun dhaggite.

Yesuus Namicha Gurra Duuda'aa Fayyise

(Mat. 15:32-39)

³¹ Achiin duuba Yesuus biyya adaala qachaa Xiirroosiitii ka'ee, karaa Sidooniitiin dabaree, biyya qachoota kudhan jedhantu keessa bayee, gara abbaayaa Galiila'aa dhage.

³² Jarri takka, namicha gurra duuda'aa ka gikkisu tokko, gara Yesuusii fiddee, akka inni harka ifii isa irra kewuuf kadhatte.

³³ Yesuus namicha san gumii keessaa qofitti baasee, quba ifii gurra isaa keessa keyee, tufee arraba namichaa tuqe;

³⁴ gara ol-gubba'aa ol ilaalee hafuura gabbaa baafatee, «Efaataa» isaan jedhe. Akkas jechuun, «Banami!» jechu'u.

³⁵ Yennuma san, gurri namichaa banamee, arrabi isaalle hiikamee akka dansaa dubbate.

³⁶ Yesuus waan kana nama tokkolle'etti akka hin hinne isaan seere; isaan ammoo adoo inni isaan seeruu, ittuma caalchisanee odeessane.

³⁷ Worri dhage'ane mara waan kana akka malee jajanee, «Wonni inni tolchu marti dansa'a! Worri gurra duude akka dhage'u, worri afaan duude akka dubbatu hin tolcha» jedhane.

8

Yesuus Nama Kuma Afur Areere

(Mat. 15:32-39)

¹ Gaafa tokko gumiin guddoon dhibiin Yesuus biratti wolitti qabante. Isaan waan nyaatanu dhabanee jennaan Yesuus barattoota ifii waamee,

² «Kolbaan tun guyyaa sadiin na waliin turteerti; sagaleelle waan hin qanneef, ani isaaniif hin naya.

³ Isaan keessaa lafa fago'ootii worri dhufane waan jiranuuf, adoo isaanii womaa hin areerin gara manaa gala'aa yoo jedhe, kara'atti hin gaggaban» jedhe.

⁴ Barattooti isaa deebisane, «Lafa goomole'ee tana keessatti sagalee kolbaa hagonaa areeriisaaf geettu eessaa fuuna?» jedhaneen.

⁵ Yesuus, «Daabboo xaltaa meeqa qaddan?» jedhee gaafannaan, isaan, «Xaltaa torba» jedhaneen.

⁶ Inni gumiin sun lafa irra akka teettu ajajee, xaltaa torba san fuudhee, Waaqaaf galata galchee, caccassee, gumii saniif akka qoodanu barattoota ifiititti kenne; isaanille gumii saniif qoodane.

⁷ Isaan qurxummii* diqqoo tokkolle qaban. Yesuus qurxummii saniifille Waaqaaf galata galchee, akka qoodanu barattoota ifiititti hime.

⁸⁻⁹ Gumiin haga namoota kuma afurii sun martinuu nyaattee quuttee, hambaa hatte kollonjoo gugurdoo torba guutuu fuudhane. Yesuus akkuma kolbaa ifi irraa galcheen,

¹⁰ barattoota woliin hoboloo yaabbatee gara aanaa Dalmaanuta'aa dhage.

Worri Fariisaayotaa Beessisa Gaafate

(Mat. 16:1-4)

¹¹ Fariisaayoti gara Yesuusii dhufanee, isa woliin mormiisa jalqabane. Isaan isa haga ilaaluu fedhane, beessisa ol-gubba'aa akka isaanitti mud-hisuuf gaafatane.

¹² Inni ammoo hafuura gabbaa baafatee, «Dhalooti kun maaf beessisa gaafata? Ani dhugumaan isiniin jedha, dhaloota kanaaf beessisi hin ken-namu!» jedhe.

¹³ Achiin duuba inni isaan lakkisee, ammalle hoboloo yaabbatee, gara abbaayaan gamaa bu'e.

Uukoo Fariisaayotaatii Fi Heroodisii

(Mat. 16:5-12)

¹⁴ Barattooti sagalee fidatiisa dedhane, hoboloo keessatti xaltaa tokko callaa qaban.

¹⁵ Yesuus isaanii, «Ilaalladha'a! Uukoo worra Fariisaayotaatii fi Heroodisii irraa ifi eegadha'a!» jedhee ifi eeggachiise.

¹⁶ Isaan wol woliin, «Inni waan nuuti sagalee hin qanneef akkana jedha» jedhaneen dudubbatane.

¹⁷ Yesuus yaada isaanii beekke, «Maaf waan dhaba sagalee teessanii dudub-battan? Isin haga ammaa hin beennee? Qalbii hin qaddanuu?

¹⁸ Adoo ila qaddanuu hin dhaggitanuu? Adoo gurra qaddanuu hin dhageettanuu? Isin hin qalbeeffattanuu?

¹⁹ Yennaa ani daabboo xaltaa shanan namoota kuma shaniif caccasse, hambaa hatte kollonjoo guutuu meeqa fuutane?» jedhee gaafate. Isaanille, «Kudhanii lama» jedhaneen deebisane.

²⁰ Yesuus itti aansee, «Yennaa xaltaa torba nama kuma afuriif caccasse, hambaa hatte kollonjoo guutuu meeqa fuutane?» jedhee gaafate. Isaanille, «Torba» jedhaneen.

²¹ «Isin ammalle hin hubattanuu?» jedhee gaafate.

Yesuus Beetisayida'atti Nama Ballaa Tokko Fayyise

²² Yesuusii fi barattooti isaa gara Betsayida'aa dhufane. Jarri takka achitti namicha ballaa tokko gara Yesuusii fiddee, akka inni namicha harkaan tuquuf kadhatte.

* **8:7** Qurxummii: Qulxummii **8:15** Luq. 12:1

²³ Yesuus namicha ballaa san harkaan qabee, ollaa keessaa diidatti baasee, ila namichaattitti tufee, harka ifii irra keyee, «Wo dhaggitaa?» jedhee gaafate.

²⁴ Namichi midhatee ilaalee, «Ee, namoota dhaggaara; ammoo akka muka ideemuu natti fakkaatan» jedhe.

²⁵ Yesuus ammalle harka ifii ila namichaa irra keye. Yennaa tana namichi hubatee ilaale. Ilti isaa fayyitee waan maraa miidhassee dhagge.

²⁶ Kanaan duuba Yesuus, «Olla'atti hin deebi'in» jedhee namicha gara mana isaa galche.

Pheexroos Ebeluu Yesuusii Hime
(Mat. 16:13-20; Luq. 9:18-21; Yoh. 6:66-71)

²⁷ Yesuusii fi barattooti isaa gara olloota adaala Qiisaariyaa Filiphoosii dhagane. Inni adoo ideemanuu kara'atti, «Namooti eennu anaan jedhan?» jedhee isaan gaafate.

²⁸ Isaanille, «Gariin Yohaannisii cuupha'a si'iin jedhan; gariin Eliyaas si'iin jedhan; kuun ammoo raagota keessaa tokko si'iin jedhan» jedhanee deebisa-neef.

²⁹ Yesuus, «Isin hoo, eennu anaan jettan?» jedhee isaan gaafate. Pheexroos deebisee, «Ati Kiristoos» jedheen.

³⁰ Yesuus waan isaa eennulle'etti akka hin hinne jabeessee isaan seere.

Yesuus Marroo Rakko'oo fi Du'a Ifii Dubbate
(Mat. 16:21-28; Luq. 9:22-27)

³¹ Yesuus, «Ilmi namaa jaarsolee biyyaa, sooreyyii hayyootaati fi barsiisota Seera Muuse'eetiin guddoo hin rakkata. Inni jibbamee hin ijjeefama; guyyaa sadiin duuba ammoo hin ka'a» jedhee barattoota ifii barsiise.

³² Inni dubbii tana isaaniif ifa tolchee dubbate. Pheexroos ammoo Yesuus cina'atti fuudhee, waan akka sanii san akka hin dubbanne dhoogge.

³³ Inni ammoo garagalee barattoota ifii ilaalee, Pheexroosiin, «Seexana, na irraa bayyadhu! Ati akka namaa malee, akka Waaqaa hin yaadattu» jedhee xixe.

³⁴ Achiin duuba Yesuus gumi'ii fi barattoota gara ifii waamee, «Eennulle na hordofisaaf yoo barbaade, waan ifii lakkisee, fannoo ifille ba'atee, na hordofuu ti.

³⁵ Nami jiruu ifii fayyifatiisa fedhu hin dhaba; nami anaa fi Oduu Gammadaatiif[†] jedhee jiruu ifii dhabu ammoo, jiruu ifii hin fayyifata.

³⁶ Nami yoo waan lafa tanaa duudii qabaatee, jiruu ifii yoo dhabe ammoo maan isaa baati?

³⁷ Nami wodoo lubbuu ifitiif maan kennuu dande'a?

³⁸ Nama dhaloota gaarayyeffata[‡] aa fi cubbamaa kana keessatti, anaa fi dubbii tiyyatti fokkifatutti, Ilmi namaa ulfinna Abbaa ifitiin, ergantoota Waaqaa wooyyoota woliin yennaa dhufu itti hin fokkifata» jedhe.

9

¹ Yesuus itti dabalee, «Dhugumaan isinitti hima; namoota as dhaabbata-neeranu kana keessaa, adoo hin du'in mootummaan Waaqaa, hunnaan dhutteertuun worri dhaggu jira» jedhe.

Bifa Jijiiramuu Yesuusii
(Mat. 17:1-13; Luq. 9:28-36)

² Yesuus guyyaa jaan duuba, Pheexroos, Yaaqoobii fi Yohaannis fudhatee, ol gara gaara tokkoo qofitti baase. Achitti inni isaan duratti jijiiramee,

^{8:29} Yoh. 6:68-69 [†] ^{8:35} Oduu Gammadaatiif: Wongeelaaf [‡] ^{8:38} Dhaloota gaarayyeffataa: Dhaloota hin addatane, dhaloota gara gaggalaa

³ woyaan isaa eennulle nami lafa irraa ka woyaa borcu tokko dande'ee haga addeessuun caalaa adii calkii* teete.

⁴ Achiin duuba barattooti sadiin Eliyaasii fi Muuseen Yesuus woliin haa-sowanuun dhaggane.

⁵ Pheexroos Yesuusiin, «Barsiisa'a! Asitti dhaggamuun keenna nu'uuf dansa'a! Kowa'a gosee sadiin, takkattii si'iif, takkattii Muuse'eef, takkattii Eliyaasiif ijaarraa» jedheen.

⁶ Isaan akka malee waan sodaataneeranuuf, Pheexroos waan dubba-teeyyuu hin beenne.

⁷ Achiin duuba duumensi dhufee gaaddisa ifitiin isaan golle. Duumensa keessaa qoonqoon, «Kun Ilma kiyya ka an jaaladhu, isa dhage'aa!» jette.

⁸ Yennuma san yennaa isaan adaala ifii ilaalanu Yesuus qofa ifi biratti dhaggane malee, nama dhibii eennulle hin dhaggane.

⁹ Yesuusii fi barattooti isaa gaara irraa adoo gad bu'iisatti jiranuu, «Ilmi namaa haga du'aa ka'utti waan dhaggitane, nama tokkole'etti hin himina'a» jedhee barattoota ifii seere.

¹⁰ Isaan dubbii isaa fudhatane; ammoo, «Du'aa ka'iis kun maan inni?» jedhane wol gagaafatane.

¹¹ Barattooti isaa, «Maaf barsiisoti seeraa, «Eliyaasitti dursee dhufa» jedhan?» jedhane Yesuus gaafatane.

¹² Yesuus deebisee, «Akka waan mara miidhassuuf dhugumaan Eliyaas hin dhufa; ammoo Ilmi Namaa akka guddoo rakkatuu fi jibbamuu ta barreeffante ho ree?

¹³ Ani ammoo isinitti hima; Eliyaas dhufeera; akkuma waan isaatiif barreeffantetti, namooti waanuma fedhane isa tolchane» jedhe.

Yesuus Mucaa Ayyaana Hama'aan Qabame Fayyise
(Mat. 17:14-21; Luq. 9:37-43)

¹⁴ Yesuusii fi barattooti sadiin, gara barattoota taanii yennaa deebi'anee dhufane, gumiin guddoon isaan marsitee, barsiisoti Seera Muuse'ee isaan woliin moromanuun dhaggane.

¹⁵ Gumiin sun yennaa Yesuus dhaggite, akka malee maadeffattee, gara isaa rukkittee nageya fuute.

¹⁶ Yesuus, «Wonni isin irratti wol morontanu maan inni?» jedhee isaan gaafate.

¹⁷ Gumii san keessaa namichi tokko deebisee, «Barsiisa'a! Mucaan kiyya durriisa afaan duuchuun qabameeruun gara keeti fideera.

¹⁸ Yennaa durriisi itti ka'u mara lafatti isa dhowa; afaan hoomacheessa, ilkaan qarsiisa, nafi isaalle sooree goga. Ani akka barattooti teeti durriisa kana baasanuuf gaafannaan, isaan ammoo hin dandeenne» jedhe.

¹⁹ Yesuus deebisee, «E! Isin dhaloota hin dhugeeffanne! Haga yoomii isin bira jiraadha? Haga yoomii isin ossadha? Mucaa gara kiyya fida'a!» isaaniin jedhe.

²⁰ Isaanille mucaa san gara Yesuusii fidane. Durriisi akkuma Yesuus dhaggeen, mucaa gajassiisee, lafatti dhowee, gangalachiisee, hoomacha afaanii yaasisiise.

²¹ Yesuus, «Haga yoomiitii as akkana te'a?» jedhee abbaa muca'aa gaafate. Abbaan muca'aa deebisee, «Ijoolluma'aan jalqabee ti.

²² Yennaa hedduu ibiddaa fi bisaan keessa buusaa isa ijjeesiisaaf wodhaaneera. Ati ammoo yoo dandeeite, maganne'ee nu'uuf nayiitii nu gargaar» jedhe.

* 9:3 Addii calkii: Adii dhaatii

²³ Yesuus, «Maaf «Yoo dandeette» jetta? Nama dhugeeffannaa qabuuf wonni marti hin dande'anti» jedhee deebise.

²⁴ Yennuma san abbaan muca'aa, «Ani dhugeeffannaa hin qaba. Ammoo ta caalte akka qabaadhuuf na gargaar!» jedheen.

²⁵ Yesuus gumiin ariifattee itti dachaatuun yennaa dhagge, ayyaana hama'aan, «Ati ayyaana afaanii fi gurra duuda'aa! Ani si ajajaa isa keessaa bayi; deebiteelle itti hin deebi'in» jedhee isa xixe.

²⁶ Ayyaanni mucaa iyyisiisee, gajassiisee keessaa baye. Mucaan akka reeffaa teenaan, namooti hedduun, «Du'eera» jedhane.

²⁷ Yesuus ammoo mucaa harka qabee lafaa ol kaase; innille ol ka'ee dhaabbate.

²⁸ Yesuus gara manaa seeneen duuba, barattooti isaa, «Nuuti ayyaana hamaa san maaf baasuu dadhanne?» jedhane qofitti isa gaafatane.

²⁹ Inni ammoo deebisee, «Ka akkanaa kun daadimataa fi laamaan[†] malee hin bawu» isaaniin jedhe.

Yesuus Ammalle Marroo Du'aa Fi Du'aa Ka'a Ifii Dubbate

(Mat. 17:22-23; Luq. 9:43-45)

³⁰⁻³¹ Yesuusii fi barattooti isaa addee san lakkisane Galiilaa keessa dabarane. Yesuus, «Ilmi Namaa harka worra isa ijjeesuutitti dabarfamee hin kennama; isaanille isa hin ijjeesan; guyyaa sadiin duuba ammoo hin ka'a» jedhaa barattoota ifii waan barsiisiisatti jiruuf, eennulle addee inni jiru akka beekuuf hin barbaanne.

³² Isaan ammoo wonna inni barsiise kana hin hubanne; isa gaafachu'uuffille sodaatane.

Ka Caalu Eennu Laati?

(Mat. 18:1-5; Luq. 9:46-48)

³³ Yesuusii fi barattooti isaa Qifirnaahoom dhaqanee, mana geyaneer-anuun duubatti Yesuus, «Kara'atti wonni isin irratti wol morontane maan inni?» jedhee isaan gaafate.

³⁴ Isaan ammoo, «Nu keessaa ka caalu eennu laati?» jedhane waan wol moromaneeranuuf cadhisane.

³⁵ Yesuus tee'een duuba barattoota kudhanii lamaan gara ifii waamee, «Nami caalaa namaa te'iisaaf barbaadu, gadee namaa te'ee, tajaajilaa nama maraa te'uu ti» jedhe.

³⁶ Achiin duuba Yesuus daa'ima tokko fuudhee isaan dura dhaabbachiise. Inni isa habbaarratee,

³⁷ «Eennulle ka daa'ima diqqaa akkanaa kana maqaa kiyyaan fudhatu, na fudhata; eennulle ka ana fudhatu, ka na ergelle fudhata malee na calla'aa moti» isaan jedhe.

Nami Nu'uun hin Mormine Golii Teenna

(Luq. 9:49-50)

³⁸ Yohaannis Yesuusiin, «Barsiisa'a, namicha tokko, ka maqaa keetiin durri-isota baasu dhagginee, waan inni golii teenna te'uu dhabeef, nuuti ammoo isa dhooggine» jedheen.

³⁹ Yesuus ammoo, «Nami maqaa kiyyaan baasa hojjatee deebi'ee ammoo, dafee hantuu tiyya dubbatu waan hin jirreef, isa hin dhooggina'a.

⁴⁰ Nami nu'uun hin mormine golii teenna.

⁴¹ Ani dhugumaan isiniin jedha, isin kiyya waan teetaneef, maqaa kiyyaan nami bisaan unto'oo xuuxxoo tokko isinii kennu gatii qaba.

[†] **9:29** *Laamaan*: Woraabbiin gariin laamaan ka jedhu hin dabalanu **9:34** Luq. 22:24

*Ataabiisa**(Mat. 18:6-8; Luq. 17:1,2)*

⁴² «Eennulle worra didiqqaa na hordofu kana keessaa tokkochi akka cub-buu tolchanuuf ataabiisaa‡ mannaa, dhakaan daaku'uu guddaan morma isaattitti hidhamee abbaayaa guddo'otti adoo gatamee isaa woyya.

⁴³ Harki keeti akka cubbuu tolchituuf, yoo si ataabe ifi irraa kuti; harka lamaan qabaattee gara qilee ibidda hin dhaannee galiisaa mannaa, fafoottee gara jiru'uu galiisa si'iif woyya. [

⁴⁴ Qilee san keessaa corroxxi nama nyaattu hin duutu; ibiddille hin dhaamu.]§

⁴⁵ Miilli keeti akka cubbuu tolchituuf, yoo si ataabe ifi irraa kuti; miila lamaan qabaattee gara qile'ee gatamu'uu mannaa, fafoottee gara jiru'uu galiisa si'iif woyya. [

⁴⁶ Qilee san keessaa corroxxi nama nyaattu hin duutu; ibiddille hin dhaamu.]

⁴⁷ Ilti teeti akka cubbuu tolchituuf yoo si ataadde ifi keessaa baasi; ila lamaan qabaattee gara qile'ee gatamu'uu mannaa, ila takkattii callaa qabaattee mootummaa Waaqaa galuu si'iif woyya.

⁴⁸ Qilee san keessaa corroxxi nama nyaattu hin duutu; ibiddille hin dhaamu.

⁴⁹ Nami martinuu ibiddaan kurowa.*

⁵⁰ «Sooddi waan dansa'a; ammoo yoo inni kuraa ifi keessaa dhabe, maaniin isa deebittanee kureessitan ree?

«Soodda ifi keessatti qabaadha'a; wolii keessaniifille nageya qabaadha'a!» jedhe.

10*Yesuus Dhirsaa Fi Niitiin Akka Wol Hin Lakkinne Barsiise**(Mat. 19:1-12; Luq. 16:18)*

¹ Yesuus addee sanii ka'ee gara biyya Yihuda'aatii fi laga Yordaanosiitiin gama dhaqe. Ammalle gumiin guddoon gara isaa dachaanaan, inni akkuma aadaa ifi isaan barsiise.

² Worri Fariisaayotaa tokko tokko Yesuus dubbi'iin xaqariisaaf* fedhane, gara isaa dhufanee, «Nami tokko ibidda ifii baasuun seeraa?» jedhane gaafatane.

³ Yesuus deebisee, «Seerri Muuse'ee maan jedha?» isaaniin jedhe.

⁴ Isaan deebisane, «Muuseen <Nami tokko woraqata lakkeessaa† barreessesse akka lakkisuuf eeyyameera>» jedhane.

⁵ Yesuus deebisee, «Muuseen sababa mataa jabeenna keessaniitiif seera kana isinii barreesse.

⁶ Jalqabatti yennaa dadi dadantu, <Waaqi dhiiraa fi dubartii dade;>

⁷ <Waan kanaaf nami tokko abba'aa fi haadha ifii lakkisee ibidda ifii woliin wol qabatan.

⁸ Isaan lachuu tokko te'an.» Maarre yoona isaan foon tokko malee lamaanii moti.

⁹ Waan Waaqi wolitti qassiise nami gargar hin baasin!» isaaniin jedhe.

‡ **9:42** *Ataabiisaa: Sababa te'iisaa, nunnusiisaa*

9:43 Mat. 5:30

§ **9:44** *Woraabbiin gariin*

laakkossa 44 fi 46 hin qabanu

9:47 Mat. 5:29

*

9:49 *Hiikkaan gariin akkuma ciincaan sooddaan*

qullowu, namille ibiddaan hin qullowa jedha

9:50 Mat. 5:13; Luq. 14:34-35

*

10:2 *Xaqariisaaf:*

Qaxafiisaaf † **10:4** *Woraqata lakkeessaa: Akkuma Gujiin dibee ibidda ifii galchu, bara san woraqata*

lakkeessaa barreessanee ibidda ifii lakkisan yookiin galchan

10:4 Mat. 5:31

¹⁰ Yennaa deebi'anee galane, manatti barattooti isaa dubbii tana isa gaafatane.

¹¹ Inni deebisee, «Eennulle ka ibidda ifii lakkisee dubartii dhibii fuudhu, ibidda ifii dassee gaarayyeeffata.

¹² Akkasuma dubartiin abbaa manaa ifii jalaa baatee, nama dhibii heerumtu takka hin gaarayyeeffatti» isaaniin jedhe.

Yesuus Ijoollee Didiqqoo Eebbise

(Mat. 19:13-15; Luq. 18:15-17)

¹³ Namooti gariin akka Yesuus harka ifitiin qaqqabee eebbisuuf, ijoollee didiqqoo gara isaa fidane. Barattooti ammoo isaan dheekkamane.

¹⁴ Yesuus yennaa waan kana dhagge aaree, «Mootummaan Waaqaa waan ta worra akka ijoollee tanaa teeteef, ijoolleen gara kiyya dhuttuutii, hin dhooggina'aa lakkisa'a!

¹⁵ Ani dhugumaan isinitti hima; eennulle mootummaa Waaqaa akka ijoolleen takka fudhattutti ka hin fudhanne, itti hin galu» jedhe.

¹⁶ Achiin duuba ijoollee habbaarratee harka ifitiin qaqqabee, isaan eebbise.

Namicha Dureessa Tokko

(Mat. 19:16-30; Luq. 18:18-30)

¹⁷ Yesuus ideemiisaaf ka'ee kara'atti bayeeruun, namichi tokko gara isaa fiigee, isa duratti jilbiiffatee, «Barsiisaa dansa'a! Jiruu bara baraatitti galiisaaf ani maan tolchu'uu male?» jedhee gaafate.

¹⁸ Yesuus deebisee, «Maaf barsiisaa dansa'a naan jetta? Waaqa tokkocha malee, nami dansaan tokkolle hin jiru.

¹⁹ Ati seera «Hin ijjeesin, hin gaarayyeeffatin, hin hatin, dharaan nama irratti dhugaa hin bayin, hin sobin, abbaa keetii fi haadha teetiif ulfinna kenni» jedhu hin beetta» jedheen.

²⁰ Namichi deebisee, «Barsiisa'a! Ani seera kana mara ijoollummaa'aanuu jalqabee eegadheera» jedheen.

²¹ Yesuus isa hubatee ilaalee jaalatee, «Waan tokko calla'atti si irraa dhidhate. Dhaqii, waan qaddu gurguriitii, worra hiyyeeyyi'iif kenni, olgubba'atti hin duroontaa; achiin duuba koyiitii na hordofi!» jedheen.

²² Namichi yennaa dubbii tana dhage'ee karra guddoo waan qabuuf, fuula ifii gurraachessee, gaddee achii deeme.

²³ Yesuus adaala ifii ilaalee barattoota ifitiin, «Worra dureeeyyi'iif mootummaa Waaqaatitti galuun attam rakkisa'a!» jedhe.

²⁴ Barattooti dubbii tana rifatane. Yesuus ammoo ammalle, «Ijoollee tiyya mootummaa Waaqaatitti galiisi attam attam rakko'o!

²⁵ Nami dureessi tokko mootummaa Waaqaatitti galiisaan irra gaalli qowa limmo'oo[‡] keessa hulluuqiisatti kaso'oo» isaaniin jedhe.

²⁶ Barattooti Yesuusii akka malee dubbii tana baaseffatane, «Yoona eennutti fayyuu dande'a ree?» jedhanee wol gagaafatane.

²⁷ Yesuus gara isaanii ilaalee, «Tun Waaqaaf malee namaaf hin dande'antu; Waaqaaf wonni maraa hin dande'anti» jedhe.

²⁸ Jennaan Pheexroos, «Kunoo, nuuti waan maraa lakkinnee si hordon-neerra» jedheen.

²⁹ Yesuus deebisee, «Dhugumaan isinitti hima; eennulle mana yookiin obboleeyyan yookiin obboleettota yookiin haadha yookiin abbaa yookiin ijoollee yookiin fichaa anaa fi Oduu Gammadaatiif jedhee ka lakkise,

³⁰ lafuma tanatti manoota, obboleeyyan, obboleettota, haadhotii, ijoolle'ee fi fichoota harka dhibbaan caalaa miidhaa woliin hin fudhata; lafa dhutulle'etti jiruu bara baraa hin qabaata.

³¹ Ammoo worri hedduun amma dura jiranu, worra duubaa hin te'an; worri hedduun amma duuba jiranu worra duraa hin te'an» jedhe.

Yesuus Marroo Du'aa Fi Du'aa Ka'a Ifii Sadeessoo Dubbate
(Mat. 20:17-19; Luq. 18:31-34)

³² Yesuusii fi barattooti isaa Yerusaaalem dhaqiisaaf kara'atti bayanee ol qabatanuun, Yesuus isaaniin dura ideemuun, barattooti maadeffatane, worri duubaan hordofiisatti jirulle sodaatane. Inni ammoo worra kudhanii lamaan ammalle maddi'itti baasee, waan isatti dhufu'uuf jiru isaanitti hime.

³³ Inni isaaniin «Kunoo, gara Yerusaaalemii ol bayaarra; Ilmi Namaa harka sooreyyii hayyootaatii fi barsiisota Seera Muuse'eetitti dabarfamee hin kenname. Isaan du'a itti muranee, worra Yihudoota hin te'initti§ dabarsanee isa hin kennan;

³⁴ isaan isa hin ceeggatan, itti hin tufan, dhaanane hin ijjeesan; ammoo guyyaa sadiin duuba du'aa hin ka'a» jedhe.

Gaaffii Ilmaan Zabdewoosii
(Mat. 20:20-28)

³⁵ Ilmaan Zabdewoosii Yaaqoobii fi Yohaannis gara Yesuusii dhufanee, «Barsiisa'a! Nuuti akka ati nuuf tolchituuf waan barbaannutti jira» jedhaneen.

³⁶ Yesuus, «Akka ani isinii tolchuuf wonni isin barbaaddanu maan isiin?» isaaniin jedhe.

³⁷ Isaan deebisane, «Yennaa barcumaa keeti ka mootummaa ulfinnaa irra teette, tokko midda keetitti, tokko bitaa keetitti akka teennu barbaanna» jedhaneen.

³⁸ Yesuus ammoo, «Isin waan gaafattanu hin beettanu! Muduunuu* rakko'oo ta ani itti unutti unuu hin dandeettanii? Akka ani cuuphamu cuuphamuu hin dandeettanii?» isaaniin jedhe.

³⁹ Isaan, «Hin dandeenna» jedhaneen.

Yesuus, «Isin dhugumaan muduunuu ani itti unutti unuu hin dandeettan, akka ani cuuphamu cuuphamuu hin dandeettan.

⁴⁰ Middaa fi bitaa kiyyatti filee ka teessisu ammoo anaa moti; addee tana worra qophootteertuuf ka kennu Waaqa» isaaniin jedhe.

⁴¹ Barattooti kudhan hafane kuun yennaa waan kana dhage'ane, Yaaqoobii fi Yohaannisitti aarane.

⁴² Yesuus ammoo gara ifii isaan waamee, «Mootoleen worra Yihudoota hin te'inii, worra mowanu hunnaan akka mowanu, bulchooti isaaniille baallii guutu'uun akka bulchanu isinuu hin beettan.

⁴³ Isin oddu'utti ammoo akkas hin te'u; eennulle isin keessaa nama guddaa te'iisaaf ka barbaadu, tajaajilaa keessan te'uu ti.

⁴⁴ Eennulle isin keessaa nama namaan duraa te'iisaaf ka barbaadu, garbicha nama maraa te'uu ti.

⁴⁵ Ilmi namaa tajaajiliisaaf, namoota hedduulle wodiisaaf lubbuu ifii kenniisaaf dhufe malee, tajaajilamiisaaf hin dhunne» jedhe.

Yesuus Barxiimewoosii Ila Balla'aa Fayyise
(Mat. 20:29-34; Luq. 18:35-43)

^{10:31} Mat. 20:16 § ^{10:33} Worra Yihudoota hin te'initti: Ormatti * ^{10:38} Muduunuu: Buduunuu, kobolaa ^{10:38} Luq. 12:50

⁴⁶ Yesuusii fi barattooti isaa Yerikoo dhaqane. Isaan gumii guddo'oon woliin yennaa Yerikoo lakkisane bayane, namichi ila balla'aa kadhaticchi tokko ka Barxiimewoos jedhamu, ilmi Ximeewoosii karaa qarqara tee'eera.

⁴⁷ Inni Yesuus nama biyya Naaziretii akka te'e yennaa dhage'e, «Yesuus! Ilma Daawitii naaf nayi!» jedhee iyye.

⁴⁸ Namooti hedduun isa cadhisiisiisaaf xixane; inni ammoo ittuma caalchisee qoonqoo guddo'oon, «Ilma Daawitii, naaf nayi» jedhee iyye.

⁴⁹ Yesuus dhaabbatee, «Isa as waama'a!» jedhe. Jennaan isaan namicha waamanee, «Inni si waamiisatti jira, jabaadhu! Ka'i!» jedhaneen.

⁵⁰ Maarre inni geelaa[†] ifi irraa gatee, utaalee ka'ee, gara Yesuusii dhufe.

⁵¹ Yesuus, «Maan akka ani si'iif godhu barbaadda?» jedhee isa gaafate. Namichi ballaan deebisee, «Barsiisa'a! Ani dhaggiisaaf barbaada» jedheen.

⁵² Yesuusille isaan, «Dhugeeffannaan teeti si fayyicheerti deemi!» jedhe.

11

Yesuus Ulfinna Gudda'aan Yersaalem Seene

(Mat. 21:1-11; Luq. 19:28-40; Yoh. 12:12-19)

¹ Isaan akkuma Yersaalemitti dhikaataneen, Betfaage'ee fi Bitaaniya'atti, gaara Ejersaa bira geyane. Yesuus barattoota ifii keessaa nama lamaaniin,

² «Gara ollaa isiniin dura jiruu dhaqa'a; akkuma achi geettaneen ilmayyoo harre'ee mandiida* hidhameeruun hin dhaggitan; hiika'aatii as fida'a.

³ Eennulle «Maaf hiittan?» jedhee yoo isin gaafate, «Gootta'atti barbaada; inni adoo hin turin hin deebisa» jedha'aan» jedhee erge.

⁴ Maarre isaan dhaqanee, ilmayyoo harre'ee balbala takka duratti, karaa qarqaratti hidhameeruun dhaggane. Adoo isaan hiikiisatti jiranuu,

⁵ worra achi dhaabbataneeranu keessaa namooti gariin, «Maaf ilmayyoo harre'ee hiittan?» jedhaneen isaan gaafatane.

⁶ Barattootille waan Yesuus jedhe isaanitti himane; isaanille lakkisane.

⁷ Barattooti ilmayyoo harre'ee gara Yesuusii fidanee, woyaa ifi harree irra buusane; innille irraa tee'e.

⁸ Nami hedduun uffana ifii, worri dhibiin dameelee baalaa raaqaa caccasane karaa irratti afane.

⁹ Worri dura ideemanuu fi worri duubaan hordofanu, «Hosaa'inaa![†] maqaa Gootta'aatiin ka dhufu ka eebbifame!

¹⁰ Mootummaan abbaa keenaa Daawitii ta dhuttu ta eebbifante! Ol-gubba'atti Hosaa'inaa!» qoonqoo guddo'oon jedhane.

¹¹ Yesuus Yersaalem geyee, Galma Waaqaa dhaqee, waan adaala sanii mara ilaale. Ammoo waan dhiiteertuuf barattoota ifi kudhanii lamaan wolii gara Bitaniya'aa dhaqe.

Yesuus Muka Harru'uu Tokko Abaare

(Mat. 21:18-19)

¹² Guyyaa lammeesso'oo yennaa isaan Bitaniya'aa deebi'anu Yesuus beelaye.

¹³ Inni harruu urruuba takka fago'otti dhaggee, midhaan irraa dhaggadhaa laati jedhee, ilaaliisaaf dhaqe. Ammoo inni yennaa isii bira geye, yennaan sun yennaa harruun midhaan buuttu waan te'uu dhabeef, baala malee waan tokkole irraa dhabe.

¹⁴ Maarre Yesuus harruu saniin, «Eennulle ijjumaa deebi'ee midhaan si irraa hin nyaatin!» jedhe. Barattooti isaalle waan inni jedhe kana dhage'ane.

[†] 10:50 Geelaa: Kaabbaa kadhaa * 11:2 Mandiida: Ijjumaa ka irraa tee'aneen hin beenne [†] 11:9 Hosaa'inaa: Hosaa'inaa jedhuun fayyisi jechuu yennaa te'u, asitti ammoo Waaqi galatoomu yookiin hashuu yaada jedhulle qaba

Yesuus Gara Galma Waaqaa Dhaqe
(Mat. 21:12-17; Luq. 19:45-48; Yoh. 2:12-22)

¹⁵ Yennaa isaan Yerusaalem geyane, Yesuus gara Galma Waaqaa dhaqee, worra Galma Waaqaa keessatti wo bituu fi gurguratu mara gad yaase. Inni Xarapheessaa worra birrii jijjiiratuutii fi barcumaa worra saphaliisa gurguratu garaggaggalchee,

¹⁶ eennulle dalleya Galma Waaqaa keessa meya tokkolle ba'atee akka hin qaxxaamurre dhoogge.

¹⁷ Achiin duuba inni, «Manni kiyya gosa maraafuu mana daadimataa te'a» jedhamee barreeffameera. Isin ammoo goda hattuun itti dhokattu tolchitane» jedhee kolbaa barsiise.

¹⁸ Sooreyyiin hayyootaatii fi barsiisoti Seera Muuse'ee, waan Yesuus jedhe dhage'ane, mala isa ittiin ijjeesanu barbaadiisatti ka'ane. Waan gumiin barsiisa isaa akka malee baaseffatteertuuf, isaan isa sodaatane.

¹⁹ Galgala san, Yesuusii fi barattooti isaa qacha'aa bayane.

Gogiisa Muka Harru'uu
(Mat. 21:20-22)

²⁰ Guyyaa lammeesso'oo ganama, adoo karaa san dabaranuu, harruun hidda isi'ii mara woliin goddeertuun dhaggane.

²¹ Pheexroos waan Yesuus harru'uun jedheeru qaabatee, «Barsiisa'a, ilaali! Harruun ati abaarte goddeerti» Yesuusiin jedhe.

²² Yesuusille deebisee, «Waaqatti dhugeeffadha'a.

²³ Dhugumaan isiniin jedha; eennulle gadhaa ifititti adoo hin mamin gaara kanaan, «Asii ka'iitii, gara abbaaya'aa ifi darbi!» yoo jedhe, wonni inni jedhulle akka teetuuf yoo dhugeeffate, wonni sun isaaf hin teeti.

²⁴ Tanaaf ani isinitti hima; yennaa daadimattanuu fi waan tokko gaafattanuu, akka fudhattaneetitti dhugeeffadha'a; wonni gaafattanuu mara isiniif hin kennama.

²⁵ «Yennaa daadimatiisaaf kaatanee dhaabbattanuu, abbaan keessan ka olgubbaa jiru yakkaa keessan akka isinii araaramu, eennulle irratti quuqaa yoo qabaattane araarama'a. [

²⁶ Ammoo yoo isin namaa araaramuu diddane, abbaan keessan ka olgubbaa jiru yakkaa keessan isinii hin araaramu]» jedhe.

Gaaffii Marroo Baallii Yesuusii
(Mat. 21:23-27; Luq. 20:1-8)

²⁷ Isaan ammalle Yerusaalemitti deebi'ane. Yesuus Galma Waaqaa keessa adoo deddeemuu, sooreyyii hayyootaa, barsiisoti Seera Muuse'eetii fi jaarsoleen gara isaa dhufanee,

²⁸ «Waan kana mara tolchiisaaf baallii maanii qadda? Waan kana mara akka tolchituuf eennutti baallii tana si'iif kenne?» jedhane.

²⁹ Yesuus deebisee, «Ani waan tokko isin gaafadha; yoo naaf deebittane, anille baallii maaniitiin waan kana mara akka tolchu isinitti hima.

³⁰ Yohaannis akka cuuphuuf baallii eennutti kenneef? Waaqa mo'o nama? Me naaf deebisa'a!» isaaniin jedhe.

³¹ Isaan wol mormanee, «Waaqa yoo jenne, «Maaf dubbii Yohaannisii dhugeeffata diddane ree?» nu'uun jedha;

³² «Nama jennuu ree?» » jedhane. Nami mara Yohaannis akka dhugumaan raagichaattitti waan fudhateeruuf, kolbaa sodaatane.

³³ Tanaaf isaan Yesuusiin, «Nuuti hin beennu» jedhane. Yesuus deebisee, «Maarre anille baallii maaniitiin waan kana mara akka tolchu isinitti hin himu» isaaniin jedhe.

12

Mammaassa Qonnaan Bultoota Fichaa Woyni'ii (Mat. 21:33-46; Luq. 20:9-19)

¹ Achiin duuba Yesuus isaanitti mammaakee, «Namichi tokko muka woyni'ii fichaa ifiititti dhaabee, dalleya itti marsee ijaaree, boolla midhaan isi'ii itti cunfu qotee, xelleephoo irra tee'anee eeganu ijaare. Achiin duuba qonnaan bultootatti kireessee, biyya san lakkisee deeme.

² Yennaan midhaan muka woyni'ii guuranu geennaan, midhaan fudhati-isaaf hojjataa tokko gara qonnaan bultoota ifii erge.

³ Qonnaan bultooti sun isa qabane, dhaanane harka duwwaa ari'ane.

⁴ Abbaan muka woyni'ii ammalle hojjataa dhibii gara isaanii erge; qonnaan bultooti mataa isaa dachaane* qaanessane.

⁵ Abbaan muka woyni'ii ammalle hojjataa dhibii gara isaanii erge; isalle ijjeesane; worra dhibiille akkuma kana kaan dhaanane, kaan ijjeesane.

⁶ Abbaan muka woyni'ii ilma guddoo jaalatu tokko qaba. Muummee irratti, «Ilma kiyya hin ulfeessan» jedhee, isa gara isaanii erge.

⁷ Qonnaan bultooti sun ammoo, «Ka abbaa fichaa muka woyni'ii dhaalu isaa kana; kowa'a isa ijeennaa, dhaalli nu'uuf hin te'a» woliin jedhane.

⁸ Maarre isaan ilma abbaa fichaa muka woyni'ii qabane ijjeesane, fichaa woyni'ii keessaa alatti qolaansane.

⁹ «Yoona abbaan fichaa muka woyni'ii maan godha ree? Inni hin dhufa; qonnaan bultoota san hin ijjeesaa; fichaa muka woyni'ii san, worra dhibi'itti hin kennata.

¹⁰ Isin Barreeffama Woyyicha keessatti «Dhakaan worri mana ijaaru tuffate, dhakaa dhakaa mara caalaa barbaadamu te'e.

¹¹ Wonni kun waan Gootaan tolche; ila teennalle'etti waan baasaa ti;» ta jettu hin dubbinnee?» jedhee gaafate.

¹² Bulchitooti Yihudootaa mammaassa kana akka Yesuus isaaniif mammaake beekane, isa qabiisaaf barbaadane; ammoo gumii waan sodaata-neef isa lakkisane deemane.

Gaaffii Marroo Kaffaliisa Gibiraa (Mat. 22:15-22; Luq. 20:20-26)

¹³ Isaan waan inni dubbatuun isa xaqaru'uuf jedhane, worra Fariisaay-otaatii fi golii Heroodisii keessaa jara tokko Yesuusitti ergane.

¹⁴ Worri ergamane dhufanee, «Barsiisa'a! Akka ati dhugaa dubbattu nuuti hin beenna; nama tokkole hin sodaattu; karaa Waaqaa dhuga'aan barsiitta malee, nama wol hin caalchittu. Mooticha mootota worra Rooma'aatiif gibira kaffaluun seera moo seeraa moti? Hin kaffalla moo hin kaffallu?» jedhaneen.

¹⁵ Inni ammoo kijiba isaanii beekke, «Isin maaf na xaqariisaaf wodhaantan? Me hin ilaalaa, beesee san fida'a!» jedheen.

¹⁶ Isaan beesee itti finnaan, «Fakki'ii fi maqaan irra jiru kun ka eennuuti?» jedhee gaafate. Isaanille, «Ka mooticha mootota worra Rooma'aa ti» jedhaneen.

¹⁷ Maarre Yesuus isaaniin, «Ka mootichaa mootichaaf, ka Waaqaa Waaqaaf kenna'a!» jedhe; isaanille isa baaseffatane.

* 12:4 *Dachaane: Fadhaansanee*

Gaaffii Marroo Du'aa Ka'iisaa
(Mat. 22:23-33; Luq. 20:27-40)

¹⁸ Saduqooti gariin, worri du'aa ka'iis hin jiru jedhanu gara Yesuusii dhufanee,

¹⁹ «Barsiisa'a! Muuseen, «Nami tokko niitii fuudhee adoo hin uumatin yoo isii irraa du'e, obboleessi isaa dubartii san dhaalee sanyii obboleessa ifitiif dabarsuu ti!» jedhee Seera keessatti nu'uuf barreesseera.

²⁰ Obboleeyyan torbaan tokko jiran; angafichi isaanii niitii fuudhee ijoollee adoo hin uumatin du'e.

²¹ Obboleessi isatti aanulle dubartuma san dhaalee, ijoollee adoo hin uumatin du'e; obboleessi sadeesso'oolle akkasuma isii dhaalee irraa du'e.

²² Isaan torbaanuu dubartuma san fuudhane, ammoo ijoollee adoo hin uumatin irraa du'ane. Muummee irratti dubartiin sunille duute.

²³ Isaan torbaanuu niitumma'aan isii fuudhaneeranii, guyyaa worri du'ane ka'anuu isaan keessaa kamiif niitii teeti?» jedhane isa gaafatane.

²⁴ Yesuus isaaniiin, «Isin akka malee dokonkortane! Maaf akka teete beettanii? Wonni akkana teeteef, isin Barreeffama Woyyicha yookiin hunna Waaqaa hin beettanu.

²⁵ Yennaa worri du'ane ka'anuu, isaan akka ergantoota ol-gubba'aa te'an malee, hin fuudhanu, hin heerumanulle'e.

²⁶ Marroo ka'iisa worra du'ane: Kitaaba Muuse'ee keessatti addee waan tusee gubattuu dubbattu hin dubbinnee? Achitti ta barreeffante, Waaqi Muuse'een, «Ani Waaqa Abraamii, Waaqa Yisahaqiitii fi Waaqa Yaaqoobii ti» jedhe.

²⁷ Inni Waaqa worra jira'aa ti malee, Waaqa worra du'a'aatii moti. Isin akka malee dokonkortane» jedhe.

Ajaja Guddicha
(Mat. 22:34-40; Luq. 10:25-28)

²⁸ Barsiisota Seera Muuse'ee keessaa tokko yennaa isaan wol mormanu achi jira. Yesuus deebii dansaa akka deebiseef dhaggee, gara isaa dhufee, «Ajaja mara keessaa guddichi kam?» jedhee Yesuus gaafate.

²⁹ Yesuus, «Ajaji guddichi, «Israa'el, dhage'i! Gootaan Waaqi keenna Gootaa tokkocha.

³⁰ Gootaa Waaqa keeti gadhaa keeti tokkochaan, lubbuu teeti takkatti'iin, qalbii teeti takkatti'iin, hunna teeti takkatti'iin» jaaladhu.

³¹ Ajaji guddichi lammeesso'oo, «Nama mara akka mataa keetii jaaladhu» ka jedhu kana. Ajaji guddichi isaan lamaan kana caalu ka dhibiin hin jiru» jedhe.

³² Barsiisaan Seera Muuse'ee Yesuusiin, «Barsiisa'a! Dansaa dubbatte; «Gootaa Waaqa tokkocha malee, Waaqi dhibiin hin jiru» jettee ka dubbate dhuga'a.

³³ Waaqa gadhaa tokkochaan, qalbii takkatti'iin, hunna takkatti'iin jaalatiisii fi ollaa ifii akka mataa ifii jaalatiis, woreega ciinca'aatii fi woreega dhibii Waaqaaf dhiyeessuu caala» jedhe.

³⁴ Yesuus akka inni qarumma'aan deebise dhaggee, «Ati mootummaa Waaqaa irraa fagoo hin jirtu» jedheen. Eegii san nami tokkolle gaaffii dhibii isa gaafatiisaaf itti hin gamne.

Gaaffii Marroo Masihi
(Mat. 22:24-46; Luq. 20:41-44)

³⁵ Adoo Galma waaqaa keessatti barsiisiisatti jiruu, «Attamiin barsiisoti Seera Muuse'ee, «Mesiihiin ilma Daawitii ti» jechuu dande'an?

³⁶ Ayyaanni Woyyichi akka Daawiti, «Waaqi Goottaa kiyyaan, diinota keeti miila keeti jalatti, haga Ani si'iif kewutti, midda kiyyatti tee'i» jedhu'uuf akeekeera.

³⁷ Daawiti ifiifuu, «Goottaa kiyya» jedhee yoo isa waame, attamiin Mesihiin ilma Daawitii te'uu dande'a?» jedhee gaafate.

Gumiin guddoon gammadaan isaa dhageette.

Yesuus Barsiisota Seera Muuse'ee Irraa Ifi Eeggachiise
(Mat. 23:1-36; Luq. 20:45-47)

³⁸ Yesuus adoo isaan barsiisuu, «Barsiisota Seera Muuse'ee, ka woyaa dheertuu uffatanee asii fi achi deemaa, addee dikko'ootitti akka nageya ulfinnaa isaan fuudhanu jaalatanu,

³⁹ Mana Waaqonfannaa Yihudootaa keessatti barcumaa duraa, lafa jilaattitti addee ulfinnaa, worra filatu irraa ifi eeggadha'a!

⁴⁰ Isaan daadimata dheertuu daadimatanu mudhisiisaan, mana haadhotii hiyyeessaa† sossanee itti aalatiisaaf dheeressanee daadimatan» jedhe.

Kennaa Haadha Hiyyeessaa
(Luq. 21:1-4)

⁴¹ Yesuus Galma Waaqaa keessatti cinaa subba kennansa keessa buusanuu tee'ee, akka kolbaan beesee ifi keessa buuttu ilaale. Dureeyyiin hedduun beesee guddoo keessa buutte;

⁴² achiin duuba haati hiyyeessaa hiyyeettiin takka dhuttee beesee sibiila diima'aa didiqqoo lamaan, ta gatiin isi'ii akka malee diqqo'oo keessa buutte.

⁴³ Yesuus barattoota ifi waamee, «Ani dhugumaan isinitti hima! Haati hiyyeessaa hiyyeettiin tun worra dhibii mara caalaa subba kennansaa keessa buutte jedhe.

⁴⁴ Worri dhibiin qabeenna guddaa qabanu irraa ka hafe subba keessa buusane; isiin ammoo adoo hiyyeetti'ituu, waan qaddu mara ka ittiin bultu subba san keessa buutte» jedhe.

13

Yesuus Diigamiisa Galma Waaqaa Dubbate
(Mat. 24:1-2; Luq. 21:5-6)

¹ Adoo Yesuus Galma Waaqaatii bayiisatti jiruu, barattoota isaa keessaa tokkochi isaan, «Barsiisa'a, ilaali! Dhakooti gugurdaan kunii fi ijaarsi gugurdaan kun attam dansa'a!» jedhe.

² Yesuus, «Ati ijaarsa gugurdaa kana dhaggitaa? Isaan maraa hin diigaman; tokkochi isaaniille wol irratti hin hafanu» jedheen.

Beessisa Bara Muumme'ee

³ Yesuus gaara Ejersaa gubba'aa gara Galma Waaqaa gamatti garagalee tee'uun Pheexroos, Yaaqoob, Yohaannisii fi Indiryaas qofitti gara isaa dhu-fanee,

⁴ «Nutti himi, wonni kun yoom teeti? Wonna kun mara te'iisaaf beessisi te'uuf jiru maan?» jedhanee gaafatane.

⁵ Yesuus isaaniin, «Eennulle akka isin hin dokonkorsine ifi eeggadha'a!

⁶ Namooti hedduun, «Ani Kiristoos» jedhaa maqaa kiyyaan hin dhufan; namoota hedduulle hin dokonkorsan.

† 12:40 Haadhotii hiyyeessaa: Dubartoota abbootiin worra irraa du'ane

⁷ Woraanaa fi oduu woraanaa yennaa dhageettane, hin sodaatina'a. Wonni akkasii kun te'uu qaddi; kun ammoo muumme'ee moti.

⁸ Gosi gosatti, mootummaan mootumma'atti hin kaati; latti addee heddu'uun hin tachooti; beeltille hin teeti. Ammoo kun akka ciniinsuu jalqabaa ti.

⁹ «Isin ifi eeggachuu qaddan. Qabanee gara mura'aa isin hin geessan; Mana Waqonfannaa Yihudootaa keessatti isin hin dhaanan. Akka naaf dhugaa teetanu*», naaf jettanee bulchitootaa fi mootota dura hin dhaabbattan.

¹⁰ Ammoo muummeen dhufiisaan dura, Oduun Gammadaa kolbaa maraaf lallabamuu qaddi.

¹¹ «Yennaa qabanee gara mura'aa isin geessane, «Maan dubbanna laati?» jedhaa dursitanee hin yaadina'a. Ammoo waanuma yennaa san isinii kenname dubbadha'a; dubbii isin dubbattanu ka dubbatu Ayyaana Woyyicha malee isinii moti.

¹² Obboleessi obboleessa, abbaalle ilma gara du'aa dabarsee hin kenna. Ijoolleen worra ifititti kaatee hin ijjeesisiitti.

¹³ Nami martinuu sababa kiyyaaf isin jibba. Haga muumme'ee ka ossatu ammoo hin fayya.

Farra Badi'ii

(Mat. 24:15-28; Luq. 21:20-24)

¹⁴ «Isin, «Farra badi'ii» addee dhaabbatu'uu hin malle dhaabbatuun hin dhaggittan; kana ka dubbisu hubatuu ti. Worri Yihudaa keessa jiru gara gaarotaa baqatuu ti.

¹⁵ Nami mana gubbaa jiru, gad bu'ee mana seenee, wo fudhatiisaaf yennaa hin dabarsin.

¹⁶ Nami fichaa keessa jiru, wo'aa gara manaa hin deebi'in.

¹⁷ Guyyooti sun dubartoota ulfaatii fi hoosisaatiif attam sodaachisa'a!

¹⁸ Wonni kun ganna keessa akka hin teene daadimadha'a!

¹⁹ Guyyooti sun guyyoota rakkinni hamaan itti te'u. Rakkinni akkasii yennaa Waaqi biyyaa lafaa dadeen jalqabee haga ammaatitti ijjumaa te'ee hin beeku. Deebi'eelle hin te'u.

²⁰ Adoo Gootaan guyyaa san gabaassuu dhabaatee, nami tokkole hin hafu. Kolbaa ifii filateef jedhee, inni guyyaa san gabaasse.

²¹ «Yennaa san eennulle isiniin, «Ilaala'a! Kiristoos as jira!» yookiin «Ilaala'a! Achi jira!» yoo jedhe itti hin dhugeeffatina'a.

²² Masiihooti dharaatii fi raagoti dharaa hin ka'an. Isaan yoo dande'ane kolbaa Waaqi filatelle dokonkoriisaaf baasaa fi bilbaasa hujan.

²³ If eeggadha'a! Ani dursee waan maraa isinii himeera.

Dhufiisa Ilma Namaa

(Mat. 24:29-31; Luq. 21:25-28)

²⁴ «Guyyootuma san keessa, yennaa rakko'oo saniin duuba, aduun hin dukkanti; jiinille deebi'ee hin ifu.

²⁵ Urjooti ol-gubbaa irraa hin harcaati; hunni ol-gubba'aa hin raafanti.

²⁶ Achiin duuba Ilmi Namaa, hunna guddo'oo fi ulfinnaan duumensa keessa dhufuun dhaggitan.

²⁷ Inni ergantoota Waaqaa maddii arfan lafaatitti ergee, kolbaa Waaqi filate qaccee biyya lafaa mara irraa wolitti qaban.

Barumsa Muka Harru'uu

(Mat. 24:32-35; Luq. 21:29-33)

* **13:9** Akka naaf dhugaa teetanu: Akka Oduu Gammadaa yookiin marroo dhugeeffannaa teessanii itti hintanu **13:13** Mat. 10:22

²⁸ «Muka harru'uu irraa barumsa baradha'a. Yennaa dameeleen isi'ii quunxituu fi baala baattu, bonni akka dhiyaate beettan.

²⁹ Akkasuma isinille wonni kun teetuun yoo dhaggitane, akka inni balbal-atti dhiyaate hin beettan.

³⁰ Ani dhugumaan isinitti hima; wonni kun maraa haga teetutti dhalooti amma jiru kun hin taru.

³¹ Ol-gubba'aa fi latti hin taran; jechi kiyya ammoo ijjumaa hin taru.

Guyyaa Yookiin Yennaa San Eennulle Hin Beeku

(Mat. 24:36-44)

³² «Guyyaa san yookiin yennaa san eennulle hin beeku. Abbaa malee, ergantooti ol-gubba'aalle hin beekanu; Ilmille hin beeku.

³³ Yennaan yoom akka teete isin waan hin beenneef ifi eeggadha'a! Dammaqa'a.

³⁴ Wonni kun akka nami mana ifii lakkisee bayyatee deemu tokko, itti gaafatamummaa hojjatoota ifitiif kennuu fakkaatti. Inni tokko tokkoofuu waan hujanu kennee, eeddoon balbala eegu dammaqee akka eeguuf ajaja.

³⁵ Maarre, abbaan manaa galgala yookiin halkan hoxxeessa, yookiin iyya lukku'uu, yookiin barii dhufuu isin waan hin beenneef dammaqa'a!

³⁶ Dedhuma yoo dhufe rattaneertanuun me isin dhagguu ti.

³⁷ Ani waan isiniin jedhu nama maraanuu jedha. Dammaqa'a!» jedhe.

14

Yesuus Ijjeesiisaaf Mari'atane

(Mat. 26:1-5; Luq. 22:1-2; Yoh. 11:45-53)

¹ Amma, Jila Irra Dabaramaatii fi Jila Daabboo Uukoo Hin Qanneetiif guyyaa lamatti hafeera. Sooreyyiin hayyootaatii fi barsiisoti Seera Muuse'ee Yesuus attamiin akka qabane ijjeesanu dhokaataan mari'atane.

² Isaan, «Kolbaan waan raafantuuf yennaa jilaa tana hin tolchinu» jedhane.

Dubartiin Takka Bitaniya'atti Yesuusitti Fiqiree Naxxe

(Mat. 26:6-13; Yoh. 12:1-8)

³ Yesuus Bitaniya'atti mana Simoonii dhukkuba goga'aa farrisiisa'aan dur qabameeruutitti adoo areerratiisatti jiruu, dubartiin takka fiqiree makaa hin qanne ta hidda muka naardoosii irraa hujante, ta gatii guddo'oo, duloo dhakaa albaasaaxarii irraa hujame guutuu fidde; duloo san cassitee fiqiree san mataa Yesuusiititti naxxe.

⁴ Nami gariin ammoo aaree, «Fiqireen tun maaf akkanaa baddi?

⁵ Fiqireen tun silaa mindaa woggaa tokkoo* caala'atti gurgurantee, beeseen sun hiyyeeyyi'iif hin kennamaayyu» woliin jedhane, hincinnayane isii malchane.

⁶ Yesuus ammoo, «Isii lakkisa'a! Isin maaf isii rakkittan? Isiin waan dansaa naaf gooteerti.

⁷ Hiyyeeyyiin yennaa maraa isiniin woliin jiran; yennuma feetane isin isaan qarqaaruu hin dandeettan. Ani ammoo yennaa mara isin woliin hin jiraadhu.

⁸ Isiin waan dandeette goote; duraan dursitee nafa kiyyatti fiqiree naxxee awwaalaaf qopheessite.

⁹ Ani dhugumaan isinitti hima, biyyaa lafaa irratti Oduun Gammadaa addee lallabantu maratti wonni isiin goote kun qaabbii isi'ii te'ee himama» jedhe.

* **14:5** Mindaa woggaa tokkoo: Dinaara dhibba sad

Yihudaan Yesuus Dabarsee Kenniisaaf Jaraan Wolii Gale
(Mat. 26:14-16; Luq. 22:3-6)

¹⁰ Achiin duuba Yihudaan nami biyya Keriyoootii barattoota kudhanii lamaan keessaa tokko ka te'e, Yesuus dabarsee kenniisaaf gara sooreyyii hayyootaa dhage.

¹¹ Isaan waan kana yennaa dhage'ane, gammadanee, beesee isaa kenniisaaf addachiisane. Maarre Yihudaan Yesuus dabarsee kenniisaaf yennaa dagu'uu barbaadate.

Yesuus Sagalee Jila Irra Dabaramaa Barattoota Woliin Nyaate
(Mat. 26:17-25; Luq. 22:7-14,21-23; Yoh. 13:21-30)

¹² Guyyaa jalqaba Jila Daabboo Uukoo Hin Qanneetitti, yennaa hooleen Jila Irra Dabaramaa qalame, barattooti, «Sagalee Jila Irra Dabaramaa eessatti akka si'iif qopheessinu barbaadda?» jedhanees Yesuus gaafatane.

¹³ Yesuus barattoota ifii lamaaniin, «Gara qacha'aa deema'a! Nama tokko ka okkotee bisaanii kaafateeru dhaggitan. Isa faana deema'aatii,

¹⁴ abbaa mana inni seenuutiin, «Kolloon keessumma'aa ta ani barattoota tiyya woliin sagalee Jila Irra Dabaramaa keessatti nyaadhu eessa jirti? Si'iin jedha barsiisaan» jedha'a.

¹⁵ Achiin duuba inni kolloo mana irraa badhoo, ta meya manaatiin guutantee afante takka isinitti hin mudhisa. Achitti nu'uuf qopheessa'a» jedhee erge.

¹⁶ Barattooti sun ka'anee gara qachaa gudda'aa dhaqanee, waan maraa akkuma inni isaanitti hime dhaggane; sagalee Jila Irra Dabaramaalle qopheessane.

¹⁷ Yennaa latti galgalootte Yesuus barattoota ifii kudhanii lamaan woliin dhufe.

¹⁸ Adoo isaan qori'itti hiiqanee nyaatiisatti jiranuu, Yesuus, «Ani dhugumaan isinitti hima; isin keessaa nami tokko, ka na woliin nyaatiisatti jiru dabarsee ana hin kenna» jedhe.

¹⁹ Barattooti laaleffatanees, «Dhugumaan anaan jechuu keetii moti! Jechuu keetii?» jedhanees badoo badoo'oon isa gaafatane.

²⁰ Yesuus isaaniin, «Inni isin nama kudhanii lamaan keessaa tokko, ka na woliin qorii tanatti cuuphataa nyaataaru.

²¹ Ilmi namaa akkuma marroo isaatiif barreeffante hin du'a; ammoo nama ilma namaa dabarsee kennuuf aanne'e! Inni adoo ijumaa dhalatiisa dhabee jiraatee isaa woyya!» jedhe.

Irbaata Goota'aa
(Mat. 26:26-30; Luq. 22:14-20; 1 Qor. 11:23-25)

²² Adoo nyaatiisatti jiranuu, Yesuus xaltaa daabbo'oo fuudhee, eebbisee, caccassee, barattoota ifiitiif kennee, «Fudhadha'a; kun foon[†] kiyya!» jedhe.

²³ Achiin duuba Inni muduunuu fuudhee, Waaqaaf galata galchee, isaaniif kenne; isaan maraa muduunuu keessaa unane.

²⁴ Yesuus «Kun dhiiga kiyya, ka kolbaa heddu'uuf dhangala'e, ka Waaqi ittiin gondoore.

²⁵ Ani dhugumaan isinitti hima; mootummaa Waaqaa keessaatitti haga guyyaa daadhii Woyni'ii haareya unutti ijumaa deebi'ee daadhii Woyni'ii hin unu» isaaniin jedhe.

²⁶ Achiin duuba isaan faaruu faarsanee, gara gaara ejersaa ol bayane.

Yesuus Mormatiisa Pheexroosii Duraan Dursee Hime
(Mat. 26:31-35; Luq. 22:31-34; Yoh. 13:36-38)

[†] 14:22 Foon: Kitaab Giriikii nafa jedha

²⁷ Yesuus isaaniin, «Barreeffam Woyyichi, «Ani tissee hin dhowa; hoolotille hin xexeeraman», waan jedhuuf isin martinuu na lakkittanee hin baqattan.

²⁸ Ani ammoo du'aa ka'een duuba isiniin dura gara Galiila'aa dhaqa» jedhe.

²⁹ Pheexroos Yesuusiin, «Isaan martinuu si lakkisane yoo baqatanelle ani ijjumaa si lakkisee hin baqadhu!» jedhe.

³⁰ Yesuus Pheexroosiin, «Ani dhugumaan si'iin jedha; halkanuma kana adoo lukkuun yennaa lamaan hin iyyin ati yennaa sadiin na mormatta» jedhe.

³¹ Pheexroos ammoo afaan guutatee «Ani si woliin du'uuf yoo barbaachiselle, ijjumaa si hin mormadhu» jedhe.

Isaan martinuu akkasuma jedhane.

*Yesuus Getesemaane'etti Daadimate
(Mat. 26:36-46; Luq. 22:39-46)*

³² Yesuusii fi barattooti isaa addee Getesemaanee jedhantu takka dhagane, inni isaaniin «Haga Ani daadimadhu asi tee'a'a» jedhe.

³³ Inni Pheexroos, Yaaqoobii fi Yohaannis ifi biratti fuudhee, gadde laaleffatee,

³⁴ isaaniin, «Ani qixxee du'aatitti guddoo gadde. Isin as tura'a; dammaqa'a» jedhe.

³⁵⁻³⁶ Yesuus haga diqqoo irraa hiiqee lafatti jigee, yoo dande'ame yennaan rakinnaa sun akka isa irra dabartu, «Abbaa kiyya wonni mara si'iif hin dande'ama; muduunuu rakinnaa kana na irraa dabarsi! Ammoo akka fedha keetii teetuu malee, akka fedha kiyyaa hin te'in» jedhee daadimate.

³⁷ Achiin duuba inni deebi'ee dhufee, barattooti sadiin sun rafaneeranuun dhaggee, Pheexroosiin, «Simoon rateertaa? Saatuma takkaalle dammaxxee tee'iisaaf hin dandeennee?

³⁸ Akka hin ataabanne, dammaqa'aatii daadimadha'a! Ayyaanni namaa hin halcha; foon ammoo dadhaba'a» jedhe.

³⁹ Inni ammalle achi dhagee, akkuma angafa jedhe jedhaa daadimate.

⁴⁰ Yesuus gara barattootaa yennaa deebi'ee dhufe, ilti isaanii waan dunqu-uqotteertuuf rafaneeranuun dhagge; isaan waan deeffatanulle wollaalane.

⁴¹ Inni sadeessoo, yennaa deebi'ee gara isaanii dhufe, «Isin ammalle rattanee foofatiisatti jirtanii? Yoona geette! Saatiin geetteerti! Kunoo, Ilmi namaa harka cubbaaleyyi'iititti dabarfamee kennamaara.

⁴² Ka'aa, deemnaa! Kunoo ka ana dabarsee kennu dhikaateera» isaaniin jedhe.

*Yesuus Qabame
(Mat. 26:47-56; Luq. 22:47-53; Yoh. 18:3-12)*

⁴³ Adoo Yesuus tana dubbatiisatti jiruu, barattoota isaa kudhanii lamaan keessaa tokko ka te'e Yihudaan dhufee biraan baye. Gumiin shallaaga'aa fi ulee-jirma qabatteertu, sooreyyii hayyootaa, barsiisota Seera Muuse'eetii fi maanguddootaan ta ergante isa woliin dhutte.

⁴⁴ Yihudaan, «Nami ani sunqadhu ka isin barbaaddanu. Isa qaba'aatii eegaa fuudha'aa deema'a» jedhee isaaniif beessisa kenneera.

⁴⁵ Yihudaan akkuma achi geyeen, gara Yesuusii dhagee, «Barsiisa'a!» jedhee isa sunqate.

⁴⁶ Maarre isaan Yesuus qabane hidhane.

⁴⁷ Worra achi dhaabbataneeranu keessaa tokkochi shallaagaa buqqifatee, garbicha hayyicha gudda'aa dhowee, gurra irraa kute.

⁴⁸ Achiin duuba Yesuus isaaniin, «Akka ani yakkaamessaa shallaaga'aa fi ulee-jirma qabattanee na qabiisaaf dhuttanee?

⁴⁹ Guyyuma guyya'aan Galma Waaqaa keessatti barsiisaa isinuma waliin ture; isin na hin qanne. Ammoo Barreeffam Woyyichi wonni jedhu mum-mowiisaa malte» jedhe.

⁵⁰ Achiin duuba barattooti martinuu Yesuus lakkisane baqatane.

⁵¹ Dargaggeessi tokko, ka woyaa qoola quncee talba'aa irraa hujante callaa uffateeru isa hordofe. Yennaa isaan isa qabane,

⁵² inni woyaa itti mulqatee, muxuqatee qullaa dheete.

Yesuus Kora Murti'ii Duratti Dhikaate

(Mat. 26:57-68; Luq. 22:54,55,63-71; Yoh. 18:13,14,19-24)

⁵³ Achiin duuba gara mana hayyicha gudda'aa, addee sooreyyiin hayyootaa, maanguddootii fi barsiisoti Seera Muuse'ee wolitti qabamanu Yesuus geessane.

⁵⁴ Pheexroos Yesuus irraa fagaatee, haga badhinna dalleya hayyicha gudda'aa seenutti hordofee, gula deeme. Achitti inni eeddota waliin tee'ee, ibidda qanqaammate.

⁵⁵ Sooreyyiin hayyootaatii fi korri murti'ii duudiinuu, Yesuus ijjeesisiisaaf, nama yakkaa isaa himatu barbaadane. Ammoo nama isa himatu tokkole hin dhagine.

⁵⁶ Nami hedduun dharaan Yesuus himate; ammoo afaan isaanii tokko hin teene.

⁵⁷⁻⁵⁸ Achiin duuba nami gariin ol ka'anee, «Ani Galma Waaqaa ka harka namaatiin ijaarame kana diigee, guyyaa saditti ka dhibii ka harka namaatiin hin ijaaranne ijaara», jedhuun dhageenneerra» jedhane dharaan itti dhugaa bayane.

⁵⁹ Ammoo teetuu malee wonni isaan jedhane afaan tokko hin teene.

⁶⁰ Hayyichi guddaan kora murti'ii duratti ol ka'ee, Yesuusiin, «Waan isaan si himatane kanaaf ati deebii hin qadduu?» jedhee gaafate.

⁶¹ Inni cadhise malee womaa hin dubbanne. Ammalle hayyichi guddaan isaan, «Masiihiin, Ilmi Waaqa ulfaata'aa si'ii?» jedhee gaafate.

⁶² Yesuus, «Ee ana; Ilmi namaa midda Waaqaa waan mara godhuu dande'u tee'ee ol-gubba'aa duumensaan dhufuun hin dhaggitan» jedhe.

⁶³ Hayyichi guddaan woyaa ifii tarsaasee, «Dhugaa dhibii maaf barbaanna?

⁶⁴ Inni Waaqa faanshessuun isinuu dhageettane. Murtiin teessan maan ree?» jedhe. Isaan martinuu afaan tokko te'anee, ijjeefamu'uu male jedhane itti murane.

⁶⁵ Namooti gariin Yesuusitti tufanee, ila isaalle hidhane, «Eentu si dhowe? Me raagii himi» jedhaa tuntummu'uun isa dhowane. Worri eegulle fuudhee isa kakkabale.

Pheexroos Yesuus Mormate

(Mat. 26:69-75; Luq. 22:56-62; Yoh. 18:15-18,25-27)

⁶⁶ Pheexroos ammalle badhinna dalleyaa keessa adoo jiruu, durroota hayyicha gudda'aaf tajaajiltu keessaa takkaan dhuttee biraan baate.

⁶⁷ Isiin Pheexroos ibidda qanqaammatuun yennaa dhaggite, isa hubattee ilaaltee, «Atille Yesuusii biyya Naaziretii waliin jirtaayyu» jetteen.

⁶⁸ Inni ammoo, «Waawwo'o! Wonni ati dubbatiisatti jirtu kun naaf hin galu» jedhee mormate. Achiin duuba akkuma inni gara hulaa karraa bayeen lukkuun iyyite.

⁶⁹ Ammalle durrittiin tajaajiltittiin tuun isa dhaggitee worra achi dhaab-bateeruun, «Namichi kun nama isaanii ti!» jette.

⁷⁰ Pheexroos ammoo ammalle mormate.

Yennaa diqqo'oon duuba worri achi dhaabbateeru Pheexroosiin, «Ati nama Galiila'aa waan teeteef, dhugumaan ati nama isaanii ti» jedhane.

⁷¹ Inni ammoo, «Namicha isin jettanu kana ani hin beeku» jedhee ifi abaaraa kakatiisatti ka'e.

⁷² Yennuma san lukkuun lammeessoo iyyite. Achiin duuba Pheexroos dubbii Yesuus, «Adoo lukkuun yennaa lamaan hin iyyin ati yennaa sadiin na mormatta» isaan jedhe qaabatee, laalfefatee bowe.

15

Yesuus Philaaxoos Duratti Dhikeeffame

(Mat. 27:1,2,11-14; Luq. 23:1-5; Yoh. 18:28-38)

¹ Barii halkaniin sooreyyiin hayyootaa: maanguddoota, barsiisota Seera Muuse'eetii fi kora mura'aa duudii woliin mari'atane. Achiin duuba isaan Yesuus hidhane, geessanee, Philaaxoositti dabarsanee kennane.

² Philaaxoos, «Ati mootii Yihudootaa tii?» jedhee isa gaafate.

Yesuus, «Maarre atuu jette» jedhee deebise.

³ Sooreyyiin hayyootaa waan heddu'uun isa himatane.

⁴ Philaaxoos ammalle, «Me waan hedduu si himatane kana ilaali! Ati womaa hin deebittuu?» jedhee Yesuus gaafate.

⁵ Yesuus ammoo, ammalle womaa hin deebinne; Philaaxoos waan kana baaseffate.

Yesuusitti Du'a Murane

(Mat. 27:15-26; Luq. 23:13-25; Yoh. 18:39; 19:16)

⁶ Yennaa Jila Irra Dabaramaa, Philaaxoos worra hidhamane keessaa nama tokkocha, ka kolbaan gaafatte aadaa hiiku qaba.

⁷ Yennaa san worra alagalaa nageya booressiisaan nama ijjeesanee hidhamane keessaa namichi Barabbaa jedhamu tokko jira.

⁸ Gumiin wolitti qabantee, Philaaxoos akkuma qara tolchu akka tolchuuf yennaa gaafatte,

⁹ inni, «Isin akka ani mootii Yihudootaa isinii hiikuuf barbaaddanii?» jedhee isaan gaafate.

¹⁰ Inni sooreyyiin hayyootaa akka Yesuus hinaaffa'aan dabarsanee isatti kennane beekeera.

¹¹ Sooreyyiin hayyootaa ammoo, Philaaxoos addee isaa Barabbaa akka isaanii lakkisu gumiin akka gaafattuuf tirtirsane.

¹² Philaaxoos ammalle, «Namicha isin Mootii Yihudootaa jettanu maan tolcha ree?» jedhee gumii gaafate.

¹³ Isaan, «Isa fannisi!» jedhane hogisane.

¹⁴ Philaaxoos, «Maaf akkana jettan? Maan yakke?» jedhee gaafate.

Isaan ammoo, «Isa fannisi!» jedhane guddisane hogisane.

¹⁵ Philaaxoos gumii gammachiisu'uuf barbaadee, Barabbaa isaaniif hiike. Achiin duuba inni Yesuus liche'een dhaansisee akka fannifamuuf dabarsee kenne.

Loltooti Yesuusitti Taphatane

(Mat. 27:27-31; Yoh. 19:2,3)

¹⁶ Loltooti Yesuus gara moonaa galma mooti'ii keessa geessanee, loltoota san keessaa worra hafanelle waamanee wolitti qabane.

¹⁷ Isaan woyaa dhiillee itti uffisane, dameelee qore'eetiin kallacha hujanee mataa isaatitti keyane.

¹⁸ Achiin duuba isaan, «Mootii Yihudootaa jiraadhu!» jedhaa isa nageya fuudhane.

¹⁹ Isaan mataa Yesuusii ule'een dhaanane, hancufa itti tufanee, akka waan isa ulfeessanuu sobanee duratti jilbiiffatane, isaa sagadane.

²⁰ Isaan itti taphataneen duuba woyaa dhiillee san irraa baasane, woyaa isaa deebisane itti uffisane. Achiin duuba gad baasane fannisiisaaf isa geessane.

Yesuus Fannifame

(Mat. 27:32-44; Luq. 23:26-43; Yoh. 19:17-27)

²¹ Isaan namicha biyya Qareena'aa tokko, ka Simoon jedhamu, abbaan Iskindsosiitii fi Ruufoosii, ficha'aa gara qacha'aa adoo dhufuu qabane fannoo Yesuusii akka ba'atu hunnaan tolchane.

²² Isaan Yesuus gara Golgootaa, addee «Buqqii mata'aa» jedhantu geessane.

²³ Achitti daadhii woyni'ii qumbi'iin makane Yesuusiif kennane; inni ammoo unuu didate.

²⁴ Achiin duuba isaan Yesuus fannisane, woyaa isaa eennu fa'a akka geettu beekiisaaf hixaa buufataa qoqoodamane.

²⁵ Yennaan isaan Yesuus fannisane sun barii saatii sad.

²⁶ Beessisi yakkaa inni itti himatamee, «Mooticha Yihudootaa» jedha.

²⁷ Isaan alagaltoota* lamaan, tokkocha middaan, tokkocha bita'aan Yesuus woliin fannisane. [

²⁸ Akka kanaan Barreeffam Woyyichi, «Inni yakkaameyyii woliin laakkowame» jedhu muummowe.]

²⁹ Worri achiin dabaranu, mataa ifi raasaa, «Hay! Ati Galma Waaqaa diiddee guyyaa saditti deebittee ka ijaartu!

³⁰ Me ifi fayyisiitii fannoo irraa gad bu'i!» jedhaa Yesuus arrassane.

³¹ Akkasuma sooreyyiin hayyootaatii fi barsiisoti Seera Muuse'ee Yesuusitti taphatane. Isaan wol woliin, «Inni worra dhibii fayyiseera, mataa ifi ammoo fayyisiisa hin dande'u!

³² Inni Masihi, Mootii Israa'el yoo te'e, fannoo irraa ifi buusuu ti! Achiin duuba nuutille dhagginee isatti dhugeeffanna!» jedhane.

Jarri lamaan Yesuus woliin fannifamanelle isa arrassane.

Du'a Yesuusii

(Mat. 27:45-56; Luq. 23:44-49; Yoh. 19:28-30)

³³ Orraa saatii jaan jalqabee, haga saatii sagalii latti duudiin dukkanootte.

³⁴ Saatii sagalitti Yesuus, «Elo'ii, Elo'ii, lamaa sabaktanii?» jedhee qoonqoo guddo'oon iyye; akkas jechuun, «Waaqa Kiyya, Waaqa Kiyya, maaf na lakkittee?» jechu'u.

³⁵ Worra achi dhaabbataneeranu keessaa gariin kana dhage'ane, «Dhage'aa, inni Eliyaas waamiisatti jira» jedhane.

³⁶ Isaan keessaa tokkochi fiigee, ispoonjii† daadhii woyni'ii dhangaggoottu'utti cuuphee, qaccee ule'eetitti keyee, akka unuuf ol Yesuusitti qabee, «Egi me! Eliyaas dhufee fannoo irraa akka isa buusu ilaallaa!» jedhe.

³⁷ Yesuus qoonqoo guddo'oon iyyee du'e.

³⁸ Gollaan Galma Waaqaa keessatti gollaneeranu gubbaa haga gadii addee lamatti tarsa'e.

³⁹ Ajajaan dhibbaa, ka achi fannoo Yesuusii dura dhaabbateeru, akka inni itti du'e dhage'ee, «Dhugumaan, nami kun Ilma Waaqaa ti» jedhe.

⁴⁰ Dubartooti gariin fagaatane ilaaliisatti jiraniyyu. Isaan keessaa Maaryamii Magdalaa, Maaryamii haadha Yaaqoobii maandhichaatii fi Yoose'ee, Saloomelle achi jiran.

* **15:27** Alagaltoota: Shittoota † **15:36** Ispoonjii: Waan nafaan bisaan xuuxu

⁴¹ Isaan yennaa inni Galiilaa jiru isa hordofanee, isa tajaajilane. Dubartooti dhibiin ta isa woliin gara Yersaaleemii dhufanelle achi jiran.

Yesuus Awwaalame

(Mat. 27:57-61; Luq. 23:50-56; Yoh. 19:38-42)

⁴² Guyyaa, guyyaa Sanbataatiin duraa, gaafa qopheeffata Yihudootaa gara galgalaa,

⁴³ Yoseefiin qachaa Armaatiya'aa ka miseensa kora murtii Yihudootaa keessatti ulfaata'aa fi dhufa mootummaa Waaqaa eegatiisatti jiru dhufee, gadhaa jabeennaan Philaaxoos dura dhikaatee reeffa Yesuusii akka isaa kennuuf gaafate.

⁴⁴ Philaaxoos akka Yesuus qaata du'e yennaa dhage'ee maadeffate. Inni ajajaa dhibbaa waamee akka Yesuus du'eeru isa gaafate.

⁴⁵ Philaaxoos ajajaa dhibbaa irraa oduu fuudheen duuba, reeffa Yoseefii kenne.

⁴⁶ Yoseef woyaa qoola bitee reeffa Yesuusii fannoo irraa buusee, itti maree, boolla awwaalaa ka dhakaa keessatti bocamee qophowerutti awwaale. Achiin duuba dhakaa guddaa gangalchee afaan boollaa duuche.

⁴⁷ Maariyaamiin qachaa Magdala'aatii fi Maariyaamiin haati Yoseefii addee reeffi Yesuusii itti awwaalame hubatanee dhaggane.

16

Yesuus Du'aa Ka'e

(Mat. 28:1-8; Luq. 24:1-12; Yoh. 20:1-10)

¹ Guyyaan Sanbataa dabareeruun duuba, Maariyaamiin qachaa Magdala'aa, Maariyaamiin haati Yaaqoobii, Saloomelle dhaqanee nafa Yesuusii issiisaaf fiqiree bitane.

² Isaan guyyaa Dilbataa barii halkaniin, yennaa aduun baatu, gara boolla awwaalaa dhaqane.

³ Isaan kara'atti, «Eennutti afaan boolla awwaalaa irraa dhakaa nu'uuf gangalchaa?» woliin jedhane.

⁴ Ammoo yennaa itti hiiqanee ilaalanee dhakaan guddaan bineensi sun duruu irraa garagalfameeruun dhaggane.

⁵ Isaan boolla awwaalaa keessa yennaa seenane dargaggeessi tokko, woyaa adii uffatee gara middaatitti tee'eeruun dhagganee rifatane.

⁶ Inni ammoo, «Hin rifatina'a! Isin Yesuusii Naaziretii ka fannifame barbaaddan. Inni ka'eera; as hin jiru. Addee isa keyane kunoo ilaala'a!

⁷ Amma deema'aatii, barattoota isaatii fi Pheexroositti, «Inni isiniin dura Galiilaa dhaqa; akkuma isinitti hime achitti isa hin dhaggitan» jedha'aa hima'a» isaaniin jedhe.

⁸ Maarre dubartooti naasu'uun bararaqanee, boolla awwaalaa keessaa bayanee baqatane. Isaan waan sodaataneeranuuf eennulle'etti womaa hin dubbanne.

*Yesuus Maariyaamii Qachaa Magdala'aatitti Mudhate**

(Mat. 28:9-10; Yoh. 20:11-18)

[
⁹ Yesuus Dilbata ganama du'aa ka'een duuba, dursee Maariyaamii qachaa Magdala'aa, ta inni ayyaanota hamoota torba keessaa baaseerutti mudhate.

* **16:8** Woraabbi'ii fi hiikkaan durii gariin laakkossa 9-10 irratti, «Dubartooti gara Pheexroosiitii fi jaalota isaa dhaqanee, waan dhage'ane gabaassanee isaanitti himane. Kanaan duuba Yesuus ifumaafuu karaa barattoota ifitiin ergaa fayyinna bara baraa woyyitti'ii fi ta haga bara baraa jiraattu karaa aduun baatuu haga aduun seentuutitti erge» jedhu qaban.

¹⁰ Isiin gara worra duri isa woliin jiranuu, ka guddoo bowiisatti jiranuu dhaxxee hinte.

¹¹ Isaan Yesuus hin jira jechuu isi'iitii fi akka isa dhaggitelle yennaa dhage'ane hin dhugeeffanne.

Yesuus Barattoota Lamaanitti Mudhate
(*Luq. 24:13-35*)

¹² Eegii san Yesuus, barattooti lamaan qachaa keessaa bayanee adoo ideemiisatti jiranuu akka dhibi'iin itti mudhate.

¹³ Isaan deebi'ane worra kaanitti waan kana yennaa himane, isaan ammoo hin dhugeeffanne.

Yesuus Barattoota Kudhanii Tokkotti Mudhate
(*Mat. 28:16-20; Luq. 24:36-49; Yoh. 20:19-23; HuE. 1:6-8*)

¹⁴ Eegii san Yesuus, barattooti kudhanii tokko adoo areerratiisatti jiranuu itti mudhate. Sababa isaan dhugeeffannaa dhabanee fi worra du'aa ka'iisa isaa dhaggane dhugeeffatiisa dhabiisaan mataa jabaataneef, inni isaan dheekkame.

¹⁵ Achiin duuba inni, «Gara biyya lafaa duudii dhaqa'aatii, kolbaa maratti Oduu Gammadaa lallaba'a.

¹⁶ Nami dhugeeffatee cuuphame mara hin fayya; ammoo ka hin dhugeeffanne mara itti murama.

¹⁷ Worri natti dhugeeffatu baasota akka tolchuuf hunni hin kennama. Isaan maqaa kiyyaan durriisota hin baasan; afaan haareyaan hin dubbatan;

¹⁸ Yoo dhudhuufaa harkaan qabane ol fuudhane, yookiin yoo waan nama ijjeesu unanelle isaan hin miidhu; worra fayyaa hin qanne irra harka ifii yoo keyane, worri sunille hin fayya» isaaniin jedhe.

Yesuus Gara Ol-gubba'aa Deebi'e
(*Luq. 24:50-53; HuE. 1:9-11*)

¹⁹ Gootaan Yesuus isaan woliin dubbateen duuba, gara ol-gubba'aa fudhatamee, mogguu midda Waaqaatitti tee'e.

²⁰ Achiin duuba barattooti bayanee, addee duudii dhaqanee Oduu Gammadaa lallabane; Gootaan isaan woliin hojjatee baasota hojjatanteen lallaba isaanii mirkaneesse.]†

16:19 HuE. 1:9-11 † **16:20** Woraabbiin gariin laakkossa 9-20 Wongeela Maarqoos barreesse keessatti hin qabanu

WongeeLa Goottaa Keenna Yesuus Kiristoosii Ka Luqaas Barreesse Seensa

Wongeelli Luqaasii, bara heddu'uun duratti hin dhufa jedhamee ka raagootaan himameef, worri addiin tun kennanteef kolbaan Israa'elii ka eegataa turte, «Masiihii», akkasuma, «Fayyisaa» sanyii nama maraa akka te'e mudhisiisaan Yesuus dhikeessa. Luqaas Yesuus, «Hiyyeeyyi'iif Oduu Gammadaa akka lallabuuf» Abbaa biraa akka ergamee fi Oduun Gammadaa tunille namootaan rakkinna adda addaa qabanuuf ta fala qaddu akka teete odeessa. WongeeLa Luqaasii keessatti marroo dhufiisa Yesuusii foorota dubbatanu ka jalqabaatii fi marroo gara ol-gubba'aa bayiisa Yesuusii, foorota dubbatanu ka dhuma keessatti ifa tofamee ka himame irra caalaa marroo gammadaa ti. Yesuus gara ol-gubba'aa bayeen duuba dhugeeffannaan kiristaanaa attam akka guddattee fi akka badhatte dabarsiin hintu kitaaba Hujii Ergantootaa keessatti barreessaa kanaanuu himanteerti.

Marroo faaruu ergantoota Waaqaa, yennaa Yesuus dhalate tissitooti akka dhaqanee ilaalane, Yesuus yennaa ijoollumma'aa gara Galma Waaqaa akka dhage, marroo namicha gosa Samaariya'aa naasaleessaatii fi ilma badee dhaggamee dabarsiin dubbattu kitaaba Luqaasii keessa calla'atti dhagganti. WongeeLa kana keessatti jalqabaa haga dhumaatitti xiyyeeffannaan guddoon ka kennanteef, marroo daadimataa, marroo Ayyaana Woyyichaa, tajaajila Yesuusii keessatti marroo qooda dubartooti qabanuutii fi cubbuu araaramuu Waaqaa ti.

Haadhoo Dubbi'ii

Itti Seensa *1:1-4*

Dhaloota Yohaannisii Cuupha'aatii fi Yesuusii *1:5-2:52*

Tajaajila Yohaannisii Cuupha'aa *3:1-20*

Cuuphamiisaa fi ataabamiisa Yesuusii *3:21-4:13*

Yesuus Galiilaa keessatti tajaajila jalqabuu *4:14-9:50*

Galiila'aa gara Yersaaleemii *9:51-19:27*

Torbaan dhumaatitti Yersaaleemii fi adaala isi'iititti *19:28-23:56*

Du'aa ka'a, mudhatiisaa fi ol bayiisa Gootta'aa *24:1-53*

Itti Seensa

¹ Ulfaataa Tewoofiloos!

Marroo waan odduu teennatti te'ee namooti hedduun barreessiisaaf woda-haananeeran.

² Ergaa tana worri nu'uuf dabarsane worra jalqabaa jalqabane ila ifitiin dhagganee fi worra dubbii tana lallabane.

³ Maarre anille, waan mara jalqabaa jalqabee, akka dansaa waan qoradheeruuf, tarre'etti galchee si'iif barreessuun dansaa teetee natti mudhatte.

⁴ Wonni ati baratteertu dhugaa akka teete guutattee akka beettuuf, ani tana godhe.

Dhalooti Yohaannisii Cuupha'aa Duraanuu Himame

⁵ Bara Heroodis mooticha biyya Yihuda'aa te'eerutti, balbala hayyootaa, gooree Abiyya'aa keessaa hayyichi Zakaariyaas jedhamu tokko jira. Niitiin isaalle sanyii Aaronii ti; maqaan isi'ii Elsaabeex jedhama.

⁶ Isaan lamaanuu ajajaa fi seera Gootta'aa maraaf ajajamaa fuula Waaqaa duratti le'ii dansaa le'ane.

⁷ Elsaabeex maseena waan teeteef, isaan ijoollee hin qabanu. Isaan lamaanuu guddoo dulloomaneraan.

⁸ Gaafa tokko, badoon hujii hayyumma'aa ta hayyoota gooree Zakaariyaasii waan teeteef, Zakaariyaas fuula Waaqaa duratti hujii hayyummaa ifii hujiisaaf dhikaate.

⁹ Akka aadaa hayyootaatitti, gara Galma Waaqaa seenee hixaana akka aarsuuf carra'aan filame.

¹⁰ Yennaa hixaanni aarfamu san, gumiin alatti daadimatiisatti jirti.

¹¹ Ergamaan Waaqaa addee hixaanni itti aarfamu gara middaatiin dhaabatee Zakaariyaasitti mudhate.

¹² Zakaariyaas yennaa isa dhagge rifatee sodaate.

¹³ Ergantichi Waaqaa ammoo, «Zakaariyaas hin sodaatin! Waaqi daadimata keeti dhage'eera; niitiin teeti Elsaabeex ilma si'iif hin deetti; maqaa isaalle Yohaannis jettee baatta.

¹⁴ Yennaa inni dhalate ati guddoo hin gammadda; kolbaan hedduulle guddoo gammaddi.

¹⁵ Inni fuula Gootta'aa duratti guddaa hin te'a; daadhii woyni'ii yookiin untoo macheessitu ijjumaa hin unu; gadaamessa haadha ifitiin jalqabee Ayyaana Woyyichaan hin guutama.

¹⁶ Kolbaa Israa'elii hedduu gara Waaqa Goottaa isaanii hin deebisa.

¹⁷ Akkuma Eliyaasii raagichaa Ayyaanaa fi hunna qabaatee, yaada abbooti'iitii fi ijoolle'ee tokko tolchiisaaf, kolbaa hin ajajanne gara yaada balchoole'eetitti deebisiisaaf, kolbaalle Gootta'aaf qopheessiisaaf Gootta'aan dura hin ideema» isaan jedhe.

¹⁸ Zakaariyaas Erganticha Waaqaatiin, «Wonni kun akka teetu attamiin beeka? Anii fi haati manaa tiyyalle dulloonneerra» jedhe.

¹⁹ Ergantichi Waaqaalle, «Ani Gabri'eel, ka fuula Waaqaa dura dhaabbadhu, oduu gammadaa tana sitti himiisaaf ergamee dhufe.

²⁰ Ati ammoo ergaa tiyya ta yennaa te'uu maltetti, te'uu jirtu hin dhugeeffanne. Waan dhugeeffatiisa dhaddeef haga wonni kun teetutti, afaan hin duudda; dubbatiisalle hin dandeettu» jedhee deebise.

²¹ Kolbaan yennaa san Zakaariyaas eegatiisatti jirtu, inni Galma Waaqaa keessatti turee jennaan maadeffatte.

²² Inni yennaa gad baye, isaan woliin dubbatiisa dadhabee jennaan, akka inni Galma Waaqaa keessatti mudhii dhaggeeru beekane. Inni dubbatiisa dadhabee harka ifitiin isaaniif beessisa kenne.

²³ Yennaan Zakaariyaas Galma Waaqaa keessatti tajaajilu hobbaatee jennaan gara mana ifii deebi'ee gale.

²⁴ Eega san adoo hin turin niitiin isaa Elsaabeex ulfoottee, haga ji'a shanii mana ifii keessatti dhokatte.

²⁵ Isiin, «Gootaan tana naaf godhee, amma gara duubaatitti ana qaabatee salphinnaa kiyya ka kolbaa oddu'uu na irraa dhoogge» jette.

Dhalooti Yesuusii Duraanuu Himame

²⁶ Elsaabeex ulfoottee ji'a jayeesso'ootitti Waaqi erganticha Gabri'eel gara qachaa Naaziretii ka Galiilaa keessatti dhaggamuu,

²⁷ gara durra duuddu'uu ta Maariyaam jedhantuu takka erge. Isiin nama Yoseef jedhamu ka sanyii Mooticha Daawitii keessaa dhalate tokkoof kadhatanteerti.

²⁸ Ergantichi Waaqaa gara isi'ii dhufee, «Ati ta guddoo badhaateertu; nageenni si'iif te'u; Gootaan si woliin jira!» isi'iin jedhe.

²⁹ Maariyaamiin dubbii erganticha Waaqaa mantee «Kun nageya attami-iti?» jettee yaadatte.

³⁰ Ergantichi Waaqaa isi'iin, «Maariyaam, hin sodaatin! Waaqi si badhaaseera.

³¹ Ati ulfoottee ilma hin deetta; maqaa isaalle Yesuus jettaan.

³² Inni guddaa hin te'a, Ilma Waaqa Ol Aana'aalle hin jedhama. Gootaan Waaqi akkuma abbaa isaa Daawitii isa hin mootonsa.

³³ Inni kolbaa Israa'eliitiif haga bara baraa mootii hin te'a, mootummaan isaalle dhuma hin qaddu» jedhe.

³⁴ Maariyaam erganticha Waaqaatiin, «Ani durra duuddu'u; tun attam te'iisaa dandeetti?» jette.

³⁵ Ergantichi Waaqaalle deebisee, «Ayyaanni Woyyichi si'itti hin dhufa, hunni Waaqa Ol Aana'aalle si irratti hin buuti. Tanaaf daa'inni woyyichi dhalatu ilma Waaqaa hin jedhama.

³⁶ Firri teeti Elsaabeex ta maseente jedhante, guddoo dulloontulle, amma ammoo isiinuu ulfoottee kun ji'a jayeesso'oo ti.

³⁷ Waaqaaf wonni hin dande'anne hin jirtu» jedhe.

³⁸ Maarre Maariyaam, «Ani tajaajiltuu Gootaa'aa ti. Akkuma ati jette naaf teetuutii!» jette. Achiin duuba ergantichi Waaqaa isii biraa deeme.

³⁹ Eega san adoo hin turin Maariyaam kaatee, gara qachaa biyya Yihudaa koobitti'ii keessaa tokko ariifatee dhaxxe.

⁴⁰ Isiin mana Zakaariyaasii seentee, Elsaabeex nageya fuute.

⁴¹ Elsaabeex nageya Maariyaami'ii yennaa dhageette, annuun gadaamessa isi'ii keessa utaale. Elsaabeex Ayyaana Woyyichaan guutantee,

⁴² qoonqoo ol qabatee, «Ati dubartii mara caalaa ta eebbifante, mucaan ati deettulle ka eebbifame!

⁴³ Haati Gootaa kiyyaa gara kiyya dhuttee, akka na dubbittuuf ulfinni akkanaa maaf naa te'e?

⁴⁴ Akkuma qoonqoo nageya fuudhiisa keetii gurri kiyya dhage'een, finni gadaamessa kiyya keessaa gammadee utaale.

⁴⁵ Dubbiin Gootaan isi'itti dubbate akka muummottu ta dhugeeffatte ta badhaate» jette.

Faaruu Maariyaami'ii Ta Galataa

⁴⁶ Maariyaam:

«Lubbuun tiyya Gootaa galateessiti;

⁴⁷ ayyaanni kiyyalle Waaqa fayyisaa kiyyatti hin gammada.

⁴⁸ Inni garbittii ifii

gad aantuu qaabateera.

Ammaa jalqabee dhalooti duudiin ta badhaate anaan jedha.

⁴⁹ Waaqi dande'aan waan guddoo naaf godhe.

Maqaan isaalle woyyicha.

⁵⁰ Marartiin* isaa worra isa sodaatuuf dhalootaa haga dhalootaa ti.

⁵¹ Inni dandeettuu irree† ifii mudhisee,

worra kooru yaada gadhaa isaanii woliin firfirse.

⁵² Mootota jajjaba barcumaa mootummaa isaanii irraa buusee, worra gad aanaa ol kaase.

⁵³ Worra beelowe waan dansa'aan quussee, dureeyyii harka duwwaa gad lakkise.

* 1:50 Marartiin: Naasuun † 1:51 Irree: Hirree

54-55 Abbootii teenna Abrahaamii fi sanyii isaa maraaf addii haga bara baraa kenne qaabatee,
marartii ifitiin garbicha ifii Israa'el gargaareera» jette.

56 Maariyaam gara ji'a sadii Elsaabeex woliin turtee, achiin duuba gara mana ifii deebite.

Dhaloota Yohaannisii Cuupha'aa

57 Elsaabeex yennaan deettu geennaan, ilma deette.

58 Ollootaa fi firoottan isi'ii akka Goottaan isi'iif guddoo marare dhagganee, isii woliin gammadane.

59 Guyyaa saddeetesso'oo annuu haqanqabaa qabiisaaf worri dhufane, annuu maqaa abba'aatiin, Zakaariyaas jedhane baasiisaaf barbaadane.

60 Haati isaa ammoo, «Waawwoo! Maqaan isaa Yohaannis jedhamuu qaba» jette.

61 Isaan isi'iin, «Worra keeti keessaa maqaa kanaan ka waamameeru tokkolle hin jiru» jedhane.

62 Achiin duuba abbaan isaa eennu jedhee maqaa isaa baasiisaaf akka barbaadu beessisaan gaafatane.

63 Zakaariyaas waan irratti barreessu gaafatee, «Maqaan isaa Yohaannis» jedhee barreesse. Isaan martinuu waan kana baaseffatane.

64 Yennuma san arrabi isaa hiikamee, dubbatiisa dande'ee, Waaqa galate-effate.

65 Ollaan marti waan te'e kana sodaate. Oduun waan kanaalle biyya Yihuda'aa goorittii keessatti addee maratti odeeffante.

66 Dhugumaan hunni Gootta'aa waan isa woliin jirtuuf, worri waan kana dhage'ane martinuu, «Mucaan kun maan te'inna laati?» jedhane yaadatane.

Raaga Zakaariyaas Dubbate

67 Achiin duuba abbaan isaa Ayyaana Woyyichaan guutamee,

68 «Kolbaa ifii gargaaree, bilisa baasiisaaf waan dhufeef,
Gootaan Waaqi Israa'elii galatoomuu!

69 Sanyii Daawitii tajaajilaa ifii irraa,
fayyisaa jabaa nu'uuf kaaseera.

70 Bara durii, afaan raagota woyyootaatiin dubbatee,

71 diinotaa fi harka worra nu jibbuu mara jalaa akka nu fayyisu addii nuuf kenneera.

72 Abbootii teennaaf akka mararu addii kennee fi
gondooroo woyyittii ifii qaabate.

73-75 Bara le'ii teenna mara fuula isaa duratti woyyumma'aa fi
balchumma'aan, sodaa malee akka isaaf tajaajillu, diinota keenna jalaa
akka nu baasu, abbaa keenna Abrahaamiif kakuu gale.

76 Mucaa kiyaa, atille, raagicha Waaqa Ol Aana'aa hin jedhanta,
karaa Gootta'aa qopheessiisaaf isa dura hin ideenta.

77 Kolbaan Waaqaa araara cubbu'uu kennamuun,
beekkuma fayyinnaa akka dhaggattu hinta.

78 Waaqi keenna marara'aa fi gadhaa laafa'a.
Inni aduu fayyinnaa nu'uuf hin baasa.

79 Inni worra dukkanaa fi gaaddisa du'aa keessa jiru maraaf hin issa;
miila keennalle karaa nageyaatitti hin qajeelcha» jedhee raage.

80 Mucaan guddatee, Ayyaanalle'een jabaate; haga guyyaan inni kolbaa Israa'eliititti mudhate gewutti goomolee keessa le'e.

2

Dhaloota Yesuusii
(Mat. 1:18-25)

¹ Yennaa san worri mootummaa worra Rooma'aa jala jiranu mara akka laakkowamanu, mootiin moototaa Awugusxoos ajaja baase.

² Laakkossi kolba'aa ka matoomaa kun, bara Qereenewos bulchaa biyya Sooriya'aa te'eerutti te'e.

³ Maarre nami maraa laakkowamiisaaf gara qachaa ifii dhage.

⁴ Yoseefille dhalootaan sanyii Daawitii waan te'eef, qachaa Naaziretii ka Galiilaa keessatti dhaggamuu bayee, gara qachaa Daawitii, ka biyya Yihuda'aa keessatti dhaggamuu Beeteelem dhage.

⁵ Inni intala kadhateeru, ta ulfa qaddu, Maariyaam woliin laakkowamiisaaf achi dhage.

⁶ Adoo isaan Beeteelem keessa jiranuu, yennaan Maariyaamiin deettu geette.

⁷ Isiin ilma angaficha deettee, mana keessumma'aa keessaa addee buli'ii waan dhabaneef, annuu hoccu'uun martee goongaa* keessa irkitte.

Tissitootaa Fi Ergantoota Waaqaa

⁸ Dirree adaala biyya saniititti tissitooti halkaniin horii tissaa bulanu jiran†.

⁹ Ergamaan waaqaa dedhuma isaanitti mudhatee, ulfinni Gootta'aalle isaanitti ifee jennaan bararaqane.

¹⁰ Ergantichi Waaqaa ammoo, «Hin sodaatina'a! Ani oduu gammadaa ta kolbaa maraaf gammada guddaa teetu isinitti odeessiisaaf dhufe.

¹¹ Adha qachaa Daawitiititti fayyisaan isiniif dhalateera; inni Gootaa Kiristoos.

¹² Beessisi isaalle kana: annuu hoccu'uun maramee, goongaa keessa irkateeruun dhaggitan» isaaniin jedhe.

¹³ Ergantooti Waaqaa ta ol-gubba'aa hedduun erganticha Waaqaa san woliin dedhuma mudhatanee,

¹⁴ «Ulfinni ol-gubba'atti Waaqaaf te'u, lafalle'etti worra inni jaalatuuf nageenni te'u» jedhanee Waaqaa galateeffatane.

¹⁵ Ergantooti Waaqaa tissitoota lakkisane gara ol-gubba'aa deebi'aneen duuba, tissitooti, «Ka'aa me, gara Beeteelemii dhandhee, waan te'e kana, ka Gootaan nu'utti hime ilaallaa!» woliin jedhane.

¹⁶ Maarre isaan ariifatanee dhaqanee, Maariyaami'ii fi Yoseef, daa'imalle goongaa keessa irkateeruun dhaggane.

¹⁷ Tissitooti yennaa isa dhaggane, waan ergamaan Waaqaa marroo daa'ima kanaatiif dubbate isaanitti odeessane.

¹⁸ Worri waan kana dhage'ane maraa, waan tissitooti isaanitti odeessane baaseffatane.

¹⁹ Maariyaamiin ammoo, waan kana mara gadhaa ifii keessatti qabattee itti yaadatte.

²⁰ Tissitooti akkuma ergamaan Waaqaa isaanitti hime teeteertuun waan dhage'ane fi dhagganee maraaf, Waaqa galateessaa leellisaa deebi'ane.

Yesuus Maqaa Baasane

²¹ Guyyaan saddeetesso'oo dabareeruun, mucaa haqanqabaa qabiis yenna geye, akkuma haati isaa adoo hin ulfooyin duratti ergamaan Waaqaa maqaa isaa baase «Yesuus» jedhane.

* 2:7 Goongaa: Gonboo † 2:8 Tissitooti horii halkaniin tissaa bulanu: Tissitooti horii miree yookiin foora bulchanu

²² Akka Seerri Muuse'ee ajajutti, yennaan qulqulloomiisaa geennaan, Maariyaami'ii fi Yoseef daa'ima Goottaa duratti dhiyeessiisaaf gara Yersaaleemii geessane.

²³ Seera Gootta'aa keessatti, «Ilmi angafichi maraa Gootta'aaf kennamee ka woyyoo te'a» jedhantee barreeffanteerti.

²⁴ Isaan akka seerri Gootta'aa jedhutti, saphaliisa lamaan yookiin maddoo lamaan woreega dhiyeessiisaaf dhaqane.

²⁵ Yennaa san namichi maqaan isaa Simoon jedhamu ka Yersaaleem keessa le'u tokko jira. Inni nama balchaa, ka jiruu ifii Waaqaaf kenneeru. Inni nama fayyinna Israa'elii eeggatiisatti jiru; Ayyaanni Woyyichille isa irra jira.

²⁶ Masiihii Gootta'aa adoo hin dhaggin akka inni hin duune Ayyaanni Woyyichi itti mudhise.

²⁷ Maariyaamii fi Yoseef akka Seera Muuse'eetitti waan barbaachisu godhiisaaf daa'ima Yesuus gara Galma Waaqaa yennaa fidane, Ayyaanni akka Simoon gara Galma Waaqaa deemu itti hime.

²⁸ Simoon daa'ima fuudhee habbaarratee,

²⁹ «Amma, Goottaa, addii kennite guutteerta, ana tajaajilaa keetille nageyaan addee dhuga'aa geessi‡.

³⁰⁻³¹ Fayyisiisa keeti ka ati fuula kolbaa maraa duratti qopheessite, ilti tiyya dhaggiteerti.

³² Ifi worra Yihudoota hin te'initti mudhisu kun, kolbaa teeti Israa'eliifille ulfinna hin fida» jedhee Waaqa galateeffate.

³³ Abbaa fi haati Yesuusii waan Simoon marroo daa'imaatii dubbate baas-effatane.

³⁴ Achiin duuba Simoon isaan eebbisee, Maariyaami'ii, «Daa'inni kun Israa'el keessatti nama heddu'uuf sababa badi'ii, nama heddu'uufille sababa fayyinnaa akka te'uuf Waaqaan filatameera. Inni beessisa Waaqa biraa kenname, ka kolbaan hedduun mormitu te'ee,

³⁵ yaada isaanii ka dhossa'aa ifatti hin baasa. Gaddi akka shallaagaa qaramee gadhaa keeti hin woraana» jedhe.

³⁶ Raagittiin Haannaa jedhantu, ta guddoo dulloonteertu takka, intalti Faanu'elii, ta gosa Aseerii achi jirti. Isiin heerumtee woggaa torba teetteen duuba, dhirsi isi'ii du'e.

³⁷ Kanaan duuba woggaa isi'ii saddeettamii afuri haga geettu, isiin Galma Waaqaa keessa laamaa fi daadimataan halkanii fi guyyaa Waaqa tajaajilte.

³⁸ Haannaan yennuma san dhuttee Waaqa galateeffatee, marroo daa'ima worra bilisa bayiisa Yersaaleemii eegatu maratti dubbate.

Gara Naaziretii Deebi'ane

³⁹ Yoseefii fi Maariyaam waan Seerri Gootta'aa ajaju mara hujanee fixaneen duuba, gara qachaa ifii Naaziret, ka Galiilaa keessatti dhaggamuu deebi'ane.

⁴⁰ Daa'inni guddatee jabaate; qarummaalle'een ka guutame te'e; badhaadhi Waaqaalle isa irra jira.

Yesuus Yennaa Ijoollichaa Galma Waaqaa Keessatti Hafe

⁴¹ Abba'aa fi haati Yesuusii wogguma woggaa'an guyyaa Jila Irra Dabara-maa gara Yersaaleemii dhaqan.

⁴² Yennaa Yesuus woggaa kudhanii lama guute, akkuma baratametti isaan gara jilaa dhaqane.

‡ 2:29 Addee dhuga'aa geessi: Na fudhadhu 2:39 Mat. 2:23

⁴³ Yennaa jilti hobbaate, gara manaa deebi'iisaaf ka'ane; Yesuus ammoo Yersaaleemitti hafe. Abba'aa fi haati isaa waan kana hin beenne.

⁴⁴ Waan inni worra waliin jiranu waliin jiru seyane, guyyaa guutuu ideemaneen duuba firootaa fi jaalota ifii bira iyyaafatiisaaf ka'ane.

⁴⁵ Isaan yennaa isa dhabane, barbaadiisaaf gara Yersaaleemii deebi'ane.

⁴⁶ Guyyaa sadiin duuba Galma Waaqaa keessatti barsiisota waliin tee'ee, isaan caqasaa gaaffiille isaan gaafatiisatti jiruun dhaggane.

⁴⁷ Worri isa dhage'ane maraa beekkuma isaatii fi deebii inni deebise baaseffatane.

⁴⁸ Abba'aa fi haati isaa yennaa achitti isa dhaggane maalalane. Haati isaa, «Ilma kiyya maaf akkana nu tolchite? Anii fi abbaan keeti akka malee yaannee si barbaadiisatti jirra» isaan jette.

⁴⁹ Yesuus deebisee, «Isin maaf na barbaaddan? Akka ani mana Abbaa kiyyaa keessa tee'uu male hin beennee?» isaaniin jedhe.

⁵⁰ Isaan ammoo waan inni dubbate hin hubanne.

⁵¹ Achiin duuba Yesuus worra ifii waliin gara qachaa Naaziretii deebi'ee, worraafille ajajame. Haati isaa waan te'e san mara gadhaa ifiititti qabatte.

⁵² Yesuus Waaqaa fi nama duratti, nafaan, qarumma'aa fi gaaro'oon guddate.

3

Lallaba Yohaannisii Cuupha'aa

(Mat. 3:1-12; Mar. 1:1-8; Yoh. 1:19-28)

¹ Xiberyoos mooticha te'ee woggaa kudhanii shaneesso'ootitti, Phonx-oos Philaaxoos bulchaa biyya Yihuda'aa, Heroodis biyya Galiila'aatitti, obboleessi isaa Filiphoos biyya Ixuriya'aatii fi Xuraakonixiititti, Lisaaniyaasille biyya Abiliinya'aatitti bulchitoota biyyaa te'ane.

² Yennaa Haannaasii fi Qayyaaffaan Yihudootaaf hayyoota gugurdoo te'aneeranutti, Yohaannisiiin ilmi Zakaariyaasii goomolee keessa jiruun dubbiin Waaqaa itti dhutte.

³ Yohaannis adaala biyya Yordaanosii duudii keessa ideemee, «Cubbuu teessan irraa deebi'aatii cuuphama'a; Waaqille cubbuu teessan isiniif hin araarama» jedhee lallabe.

⁴ Isaayaasiin raagichi marroo Yohaannisiiitiif, «Nami tokko goomolee keessatti, «Karaa Goota'aa qopheessa'a; daandii inni irra ideemu qajeelcha'a!

⁵ «Baleen martinuu guutantuu ti, koobii fi gaarri martinuu diriiruu ti. Karaan daddabaan qajeelee, daandiin kattattaan wol qixxoottuu ti.

⁶ Nami duudiin fayyisiisa Waaqaa hin dhagga» » jedhee barreesseera.

⁷ Yohaannis gumii harka isaatitti cuuphamiisaaf gara isaa dhutteen, «Isin ilmaan buuti'ii! Akka isin mufii Waaqaa ta isinitti dhufaartu jalaa baqattanu eennutti isinitti hime?

⁸ Cubbuu teessan irraa akka deebitane waan mudhisu tolcha'a. Abbaan keenna Abrahaam jedhiisatti hin ka'ina'a. Waaqi dhakoota kana keessaa fuudhee Abrahaamiif ilmaan tolchiisa akka dande'u ani isinitti hima.

⁹ Agaraan mukoota hiddatti muriisaaf qophoweera. Muki midhaan dansaa hin buunne maraa muramee ibiddatti hin gatama» jedhe.

¹⁰ Jennaan kolbaan, «Yoona nuuti maan tolchinu ree?» jettee Yohaannis gaafatte

¹¹ Inni deebisee, «Nami uffana lamaan qabu ka womaa hin qanneef kennuu ti; ka sagalee qabulle worra hin qanne waliin qoodamuu ti» jedhe.

¹² Worri qaraxa guuranu cuuphamiisaaf dhufanee, «Barsiisa'a, nuuti maan tolchinu?» jedhanee isa gaafatane.

¹³ Yohaannis isaaniin, «Ka seeraan murame caalchittanee hin guurina'a» jedhe

¹⁴ Loltooti gariin, «Nuuti hore? Maan goona?» jedhanee isa gaafatane. Innille isaaniin, «Hunnaan namuu irraa beesee hin guurina'a, eennulle dharaan hin himatina'a, mindaan keessan isiniif gewuu ti» jedhe.

¹⁵ Kolbaan hedduun dhufa Kiristoosii eeggisatti waan jirtuuf, «Yohaannis Masiihii* te'innaa?» jettee mante.

¹⁶ Yohaannis, «Ani amma bisaaniin isin cuupha, ka na caalu ammoo na duubaan dhufaara. Ani hidhaa kophee isaa hiikiisaafille nama te'uu moti. Inni Ayyaana Woyyichaa fi ibiddaan isin cuupha.

¹⁷ Inni eeddummee ifii keessatti midhaan qulleessiisaaf wobanee† harkatti qabateera; midhaan qulleessee gootara'atti hin galcha; huura ammoo ibidda hin dhaanneen guba» jedhe.

¹⁸ Yohaannis karaa adda addaa heddu'uun gorsa isaaniif kennaa, Oduu Gammadaa isaanitti lallabe.

¹⁹ Heroodisiin bulchaan, Heroodiyaas niitii obboleessa ifii fuudhee, waan badduu hedduu dhibiille waan hujeeruuf Yohaannis isa xixe.

²⁰ Heroodis waan badduu ittuma dabalee, Yohaannis mana hidha'aatitti galche.

Cuuphamiisa Yesuusii

²¹ Kolbaan mara cuuphanteen duuba Yesuusille cuuphame. Adoo inni daadimatiisatti jiruu ol-gubbaan banantee,

²² Ayyaanni Woyyichi saphaliisa fakkaatee dhufee isa irra bu'e. Ol-gubbaa irraa, «Ati ilma kiyya jaalatama'a. Ani si'itti gammadeera» qoonqoon jettu dhage'ante.

Hidda Dhaloota Yesuusii (Mat. 1:1-17)

²³ Yesuus yennaa hujii jalqabu, dhalatee gara woggaa soddomaa ti. Kolbaan, ilma Yoseefii Eli'i isa seete.

²⁴ Eliin ka Maataa'aa, Maataan ka Lewwi'ii, Lewwiin ka Malki'ii, Malkiin ka Yaanaayii, Yaanaayii ka Yoseefii,

²⁵ Yoseef ka Maataatiyaasii, Maataatiyaas ka Amosii, Amos ka Naahomii, Naahom ka Eslii, Esliin ka Naagee,

²⁶ Naageen ka Maa'aatii, Maa'aat ka Maataatiyaasii, Maataatiyaas ka Seeme'ii, Seeme'i ka Yoose'ee, Yooseen ka Yooda'aa,

²⁷ Yoodaan ka Yo'anaanii, Yo'anaan ka Resaa, Resaan ka Zarubaabelii, Zarubaabel ka Salaati'elii, Salaati'el ka Neerii

²⁸ Neeri ka Melkii, Melkiin ka Adii, Adiin ka Qosaamii, Qosaam ka Elmaadaamii, Elmaadaam ka Eerii,

²⁹ Eer ka Yoshu'aa, Yoshu'aan ka Elii'ezaarii, Elii'ezaar ka Yoraamii, Yoraam ka Maataatii, Maataat ka Lewwii,

³⁰ Lewwiin ka Simi'oonii, Simi'oon ka Yihuda'aa, Yihudaan ka Yoseefii, Yoseef ka Yoonaamii, Yoonaam ka Eliyaaqimii,

³¹ Eliyaaqim ka Meleyaa, Meleyaan ka Maayinaanii, Maayinaan ka Maaxaataa, Maaxaataan ka Naataanii, Naataan ka Daawitii,

³² Daawiti ka Iseyii, Isey ka Yoobeedii, Yoobeed ka Bo'azii, Bo'az ka Salmoonii, Salmoon ka Nahasoonii,

* **3:15 Masiihii:** Kiristoos † **3:17 Wobanee:** Wobansaa yookiin horooroo ittiin hafarsu **3:19 Mat.** 6:17-18

³³ Nahasoon ka Aminaadaabii, Aminaadaab ka Aaramii, Aaram ka Arnii, Arni ka Hesromii, Hesrom ka Faaresii, Faares ka Yihuda'aa, Yihudaan ka Yaaqoobii,

³⁴ Yaaqoob ka Yisihaqii, Yisihaq ka Abrahaamii, Abrahaam ka Taara'aa, Taaraan ka Naahorii, Naahor ka Seruugii,

³⁵ Seruug ka Raagaawuu, Raagaawu ka Felegii, Feleg ka Ebeerii, Ebeer ka Shala'aa, Shalaan ka Qayinaanii,

³⁶ Qayinaan ka Arfaaksaadii, Arfaaksaad ka Seemii, Seem ka Nohii, Nohi ka Laamekii, Laamek ka Matusaala'aa,

³⁷ Matusaalaan ka Heenokii, Heenoki ka Yaaredii, Yaared ka Mahalalelii, Mahalalel ka Qayinaanii, Qayinaan ka Enoshii,

³⁸ Enoshi ka Sheetii, Sheeti ka Addaamii, Addaam ka Waaqaa ti.

4

Ataabamuu Yesuusii (Mat. 4:1-11; Mar. 1:12,13)

¹ Yesuus Ayyaana Woyyichaan guutamee laga Yordaanosiitii yenna deebi'e, Ayyaanni gara goomole'ee isa geesse.

² Achitti guyyaa afurtama Seexanaan ataabame. Guyyoota san inni womaa hin nyaanne; tanaaf dhuma guyyoota saniititti inni beelow.

³ Seexanni isaan, «Ati Ilma Waaqaa yoo teete, dhakaan kun daabboo akka te'u ajaji» jedhe.

⁴ Yesuus deebisee, «Barreeffam woyyichi, «Nami sagalee calla'aan hin le'u» jedha» jedhe.

⁵ Achiin duuba Seexanni gara addee ol aantuu gubbaa isa geessee, yoosuma mootummaa biyya lafaa irra jirtu mara itti mudhise.

⁶ Seexanni Yesuusiin, «Ani kana maraa irratti ulfinnaa fi baallii si'iif hin kenna. Kun maraa waan naaf kennameeruuf, ani ka jaaladheef kennuu hin dande'a.

⁷ Maarre yoo naaf sagadde, kun maraa keeti te'a» jedheen.

⁸ Yesuus deebisee, «Barreeffam Woyyichi, «Gootaa Waaqa keetiif sagadi; isa calla'aafille tajaajili!» jedha» jedheen.

⁹⁻¹¹ Achiin duuba Seexanni gara Yerusaalemii isa geessee, guutuu Galma Waaqaa gubba'atti dhaabbachiisee, «Barreeffam Woyyichi, «Waaqi ergantoota ifii akka si eegannuuf hin ajaja. Isaanille miila keeti dhakaan akka hin miine harka ifitiin ol si hin qaban» waan jedhuuf, ati Ilma Waaqaa yoo teete, asi gubba'aa ifi gad darbi» isaan jedhe.

¹² Yesuus deebisee, «Barreeffam Woyyichi, «Gootaa Waaqa keeti haga hin ilaalin» jedha» jedheen.

¹³ Seexanni karaa maraan isa ataabeen duuba haga yenna'aatiif isa biraa deeme.

Yesuus Galiila'atti Hujii Jalqabe (Mat. 4:12-17; Mar. 1:14,15)

¹⁴ Achiin duuba Yesuus hunna Ayyaana Woyyichaatiin gara Galiila'aa deebi'e. Gurri isaa adaala san maratti odeeffame.

¹⁵ Inni manoota waaqonfannaa Yihudootaa keessatti barsiisee, nami marti isa galateesse.

Yesuus Naaziretitti Tuffatame (Mat. 13:53-58; Mar. 6:1-6)

¹⁶ Achiin duuba Yesuus gara lafa itti guddatee, Naaziret dhagee, guyyaa Sanbataa akkuma aadaa ifii Mana Waaqonfannaa Yihudootaa dhage. Yenna inni Barreeffama Woyyicha dubbisiisaaf ka'e,

¹⁷ kitaaba Isaayaasii raagichaa itti kennane. Maraa kitaaba sanii diigee,

¹⁸ «Ayyaanni Gootta'aa ana irra jira,

worra hiyyeeyyi'ii Oduu Gammadaa akka himuuf na muudeera.

Worra booji'ameef bilisummaa akka lassuuf,

worra ballaa akka dhaggisiisuuf,

worra miicame akka baasuuf,

¹⁹ woggaa Goottaan kolbaa ifii fayyisulle

akka lassuuf na ergeera» dubbiin jettu addee itti barreeffanteertu dhagge.

²⁰ Yesuus kitaaba san maree, namicha eegutti kennee tee'e. Kolbaan Mana Waaqonfannaa Yihudootaa san keessa jirtu marti adoo ila irraa hin caffatin isa ilaalte.

²¹ Achiin duuba Yesuus isaaniin, «Akkuma dubbifamuun dhageettane, Barreeffam Woyyichi kun adha muummowe» jedhe.

²² Isaan martinuu marroo isaa waan dansaa dubbatanee, dubbii maso'oo ta inni dubbate baaseffatane, «Inni ilma Yoseefiitii motii?» jedhane.

²³ Yesuus isaaniin, «Isin dhugumaan mammaassa, «Cidheessa, dursii ifi fayyis!» jedhu natti hin mammaattan. Waan qachaa Qifirnaahoomiititti tolchitelle, ta nuuti dhageenne as qachaa keeti keessattille tolchi hin jettan» jedhe.

²⁴ Itti dabaleelle, «Ani dhugumaan isinitti hima, raagaan tokko biyya ifiititti fudhatama hin qabu.

²⁵ Dhugumaan, bara Eliyaasii raagichaattitti woggaa sadii fi ji'a jaan bokkeen ni dhabamee, lafa san duudii keessatti beelti hantuun yennaa galte, biyya Israa'elii keessatti haadhotiin hiyyeessaa hedduun jirti.

²⁶ Eliyaas ammoo gara haadha hiyyeessaa ta biyya Sidoonii keessatti qachaa Saraaphta'aa keessa leetuu takka malee, gara dhibii gara nama tokkoolle hin erganne.

²⁷ Akkasuma bara Elsaasii raagichaattitti kolbaan hedduun ta dhukkuba goga'aa farrisiisa'aan dhibanteertu jirti; ammoo, isaan keessaa Na'amaanii namicha biyya Sooriya'aa malee, nami tokkolle hin fayyine» jedhe.

²⁸ Worri mana waaqonfannaa Yihudootaa keessa jiranu martinuu yennaa kana dhage'ane, akka malee aarane.

²⁹ Isaan ol ka'anee, Yesuus qachaa keessaa harkisane baasane qile'etti gad qolaansiisaaf barbaadane, gara ededa gooroo qachaan isaanii irratti ijaarameeruutitti isa geessane.

³⁰ Inni ammoo isaanuma oddu'uun dabaree kara'atti bayee deeme.

Namicha Ayyaana Hama'aan Qabameeru Tokko

(Mar. 1:21-28)

³¹ Achiin duuba Yesuus gara qachaa Qifirnaahoomii, ka Galiilaa keessatti dhaggamuu tokko dhagee, guyyaa Sanbataa kolbaa barsiise.

³² Waan inni baalli'iin barsiiseef, isaan martinuu barsiisiisa isaa baaseffatane.

³³ Namichi Ayyaana hama'aan qabameeru tokko mana waaqonfannaa Yihudoota keessa jiraayyu. Inni qoonqoo guddoon,

³⁴ «Eeyyaa! Yesuusii nama Naaziretii, haajaa maan nu waliin qadda? Nu balleessiisaaf dhuttee? Ani ebeluu keeti hin beeka! Ati Woyyicha Waaqaa ti» jedhee iyye.

³⁵ Yesuus ayyaana hama'aan, «Cadhisi! Keessalle'ee bayi!» jedhee xixe. Ayyaanni hamaan sun fuula isaanii duratti namicha gad jisee, womaa adoo isa hin miidhin keessaa baye.

³⁶ Kolbaan martinuu baaseffatee, «Dubbiin akkasii tun maan? Ayyaanota hamootalle baalli'ii fi hunnaan xixa; isaanille isaaf hin ajajaman» wol woliin jette.

³⁷ Gurri Yesuusii adaala biyya sanii maratti dhage'ame.

Yesuus Worra Dhibamaa Hedduu Fayyise

(Mat. 8:14-17; Mar. 1:29-34)

³⁸ Yesuus Mana Waaqonfannaa Yihudootaati bayee gara mana Simoonii dhage. Haati sodda'aa ta Simoonii dhukkuba nafa o'isu jaba'aan dhibanteer-tiyyu; isaanille akka inni isii gargaaruuf itti himane.

³⁹ Maarre Yesuus itti dhikaatee cinaa isi'ii dhaabbatee, dhukkuba nafa o'isu san xixee, dhibeen isii lakkitte. Yennuma san ol kaatee isaanii areerte*.

⁴⁰ Yennaa aduun seente, worra dhukkuba adda addaatiin dhibamane maraa gara Yesuusii fidane. Inni isaan mara irra harka ifii keyee fayyise.

⁴¹ Durriisotille Yesuusiin, «Ati Ilma Waaqaa ti» jedhaa kolbaa hedduu keessaa iyyaa bayane. Ammoo waan isaan akka inni Kiristoos te'e beeka-neef, xixee dubbatiisa isaan dhoogge.

Yesuus Manoota Waaqonfannaa Yihudootaa Keessatti Lallabe

(Mar. 1:35-39)

⁴² Yennaa latti bariite Yesuus achii bayee, gara addee qoommi'ii dhage. Kolbaan isa barbaadiisa kaatee, yennaa dhaggite, akka inni isaan lakkisee hin deemne dhooggiisaaf wodhaante.

⁴³ Inni ammoo isaaniin, «Ani Oduu Gammadaa ta mootummaa Waaqaa qachoota dhibiille'etti lallabu'uu male; ani akka tana hujuuf ergame» jedhe.

⁴⁴ Maarre inni manoota waaqonfannaa Yihudootaa ka biyya Yihuda'aa keessatti dhaggamuu keessatti lallabiisa itti fufe.

5

Yesuus Barattoota Jalqabaa Waame

(Mat. 4:18-22; Mar. 1:16-20)

¹ Gaafa tokko Yesuus qarqara abbaayaa Genesaarexii* dhaabbateeruun, kolbaan dubbii Waaqaa dhage'iisaaf gara isaa wol dadarbite.

² Inni hoboloota lamaan qarqara abbaaya'aatitti dhagge; worri qurxummii guuru hoboloota achitti lakkisee cacchoota dhiqatiisatti jiraayyu.

³ Yesuus hoboloota san keessaa gara takkatti'ii, ta Simoonii seenee, akka inni qarqara abbaayaa irraa diqqoo gara keessaa hiissu isa gaafate. Achiin duuba Yesuus hoboloo keessa tee'ee gumii barsiise.

⁴ Yennaa dubbii ifii fixate, Simooniin, «Gara ila bisaanii hoboloo hiissiitii, qurxummii qabiisaaf cacchoota teessan gad buusa'a» jedhe.

⁵ Simoonille, «Barsiisa'a, eda halkan duudii guddoo itti dadhabaa bulle, ammoo womaa hin qabanne. Amma ammoo, yoo ati jette ani cacchoota hin buusa» jedheen.

⁶ Isaan cacchoota buusane, haga cacchooti isaanii tarsiisa geettutti qurxummii hedduu qabatane.

* **4:39** Areerte: Yookiin keessummeessite * **5:1** Abbaayaa Genesaarexii: Abbaayaa Galiila'aa **5:3**
Mat. 13:1-2; Mar. 3:9-10; 4:1 **5:6** Yoh. 21:6

⁷ Isaan lansooti isaanii ka hoboloo dhibii keessa jiranu dhufanee akka isaan gargaaranuuf haatatane†. Isaanille dhufanee hobolooti lamaanuu haga gad lixiisa geettutti qurxummi'iin akka malee guutane.

⁸ Simoon Pheexroos waan te'e kana yennaa dhagge, fuula Yesuusii duratti jilbiiffatee, «Gootaa kiyya ani cubbichaa, natti hin dhikaatin!» jedhe.

⁹ Simoonii fi worri isa woliin jiranu maraa qurxummii hedduu waan guurataneef akka malee baaseffatane.

¹⁰ Akkuma worra kaanii, lansoota Simoonii ka te'ane, ilmaan Zabdewoosii Yaaqoobii fi Yohaannisille baaseffatane. Yesuus Simooniin, «Hin sodaatin! Haganaa achi kolbaa guurta» jedhe.

¹¹ Isaan hoboloota harkisane qarqaratti baasane, waan mara lakkisane Yesuus hordofane.

Yesuus Namicha Tokko Fayyise
(Mat. 8:1-4; Mar. 1:40-45)

¹² Gaafa tokko Yesuus qachaa tokko keessa adoo jiruu, namichi dhukkuba goga'aa farrisiisaan qabameeru ka achi jiru tokko, yennaa isa dhagge, Yesuus duratti gad jigee, «Ee Gootaa, yoo fedha keeti te'e na fayyisi‡» jedhee kadhate.

¹³ Yesuus harka ifii diriirfatee, isa qabee, «Hin fedha fayyi» jedhe. Yennuma san dhukkubi goga'aa farrisiisaan namicha lakkise.

¹⁴ Yesuus namichaan, «Waan kana nama tokkolle'etti hin himin; ammoo dhaqiitii hayyichatti ifi mudhisi; akka ati fayyite, nami mara akka beekuuf, fayyuu keetiif, qodha Muuseen ajaje kenni!» jedhee seere.

¹⁵ Gurri Yesuusii ammoo addee maratti dhage'amee, gumiin guddoon isa dhage'iisaa fi dhukkuba ifii irralle'ee fayyiisaaf gara isaa dhutte.

¹⁶ Inni ammoo yennaa hedduu addee qoommi'ii dhaqaa daadimate.

Yesuus Namicha Laashoweru Tokko Fayyise
(Mat. 9:1-8; Mar. 2:1-12)

¹⁷ Gaafa tokko Yennaa Yesuus barsiisu, Fariisaayotii fi barsiisoti Seera Muuse'ee, olloota Galiila'aa fi Yihudaa keessatti dhaggamanu mara keessaa, Yersaalemille'ee dhufaneeranu achi tetee'aneeran. Yesuus worra dhibamane akka fayyisuuf, hunni Goota'aa isa woliin jirtiyyu.

¹⁸ Jarri tokko namicha laashoweru tokko rare'een ba'atane dhufanee, gara manaa seensisanee fuula Yesuusii dura keyiisaaf wodhaanane.

¹⁹ Ammoo waan kolbaan heddatteef, karaa seensisanu dhabanee, mana gubbaa yaabane, heellichoo manaa saaqanee, rare'eenuu woliin kolbaa oddu'utti, fuula Yesuusii duratti gad buusane§.

²⁰ Yesuus dhugeeffannaa isaanii yennaa dhagge, namichaan, «Abboo, cubbuu teeti maraaf araari kennameera» jedhe.

²¹ Barsiisoti Seera Muuse'eetii fi Fariisaayoti, «Namichi Waaqa faanshessu kun eennu inni? Waaqa tokkocha malee eentu cubbuu namaaf araaramiisaaf dande'a?» jedhaa yaadatane.

²² Yesuus yaada isaanii beekke, «Isin maaf waan akkanaa kana gadhaa keessan keessatti yaadattan?

²³ «Cubbuu teeti maraaf araari kennameera» jechu'u moo yookiin, «Ol ka'ii ideem» jechu'utti kaso'o?

²⁴ Amma ammoo ani Ilmi Namaa cubbuu araaramiisaaf lafa irratti baallii akka qabu akka beettanu» jedhee, namicha laashoweruun, «Ol ka'! Raree teeti fudhadhuutii gara mana keetii deemi!» jedhe.

† 5:7 Haatatane: Harkaan, ilaan, mataa raasiisaan waamane ‡ 5:12 Fayyisi: Qulleessi § 5:19 Ijaarsi mana Yihudootaa keenna irraa waan goruuf heellichoo manaa saaqanee deebisu'uuf hin dande'an

²⁵ Yennuma san namichi fuula isaanii duratti ol ka'ee, itillee irra irkataa ture fudhatee, Waaqa galateeffataa gara mana ifii deeme.

²⁶ Isaan martinuu akka malee baaseffatane, guddoo sodaatanee, «Adha baasa guddaa dhaggine!» jedhaa Waaqa galateeffatane.

Yesuus Lewwii Waame
(*Mat. 9:9-13; Mar. 2:13-17*)

²⁷ Kanaan duuba, Yesuus achii deemee, namicha qaraxa guuru ka Lewwii jedhamu tokko, addee gosee qaraxaa tee'eeruun dhaggee, «Na hordofi» jedheen.

²⁸ Lewwiin ol ka'ee, waan mara lakkisee, isa hordofe.

²⁹ Achiin duuba Lewwiin mana ifiititti, areertii guddoo Yesuusiif qopheesse. Worri qaraxa guuru heddu'uu fi worri dhibiille isaan waliin areeratiisaaf tetee'aneeran.

³⁰ Fariisaayotii fi worri golii isaanii te'ane barsiisoti Seera Muuse'ee gariin, «Isin worra qaraxa guuruu fi cubbaaleyyii waliin maaf nyaattan? Maaf untan?» jedhanee barattoota Yesuusiititti gungumane.

³¹ Yesuus deebisee, «Worra fayyaa hin qanneef malee, worra fayyaaleyyii'iiif cidheessa hin barbaachisu.

³² Ani cubbaaleyyii gara cubbuu irraa deebi'iisaa waamiisaaf malee, balchootaaf hin dhunne» isaaniin jedhe.

Gaaffii Marroo Laamiisaa
(*Mat. 9:14-17; Mar. 2:18-22*)

³³ Namooti gariin Yesuusiin, «Barattooti Yohaannisii yennaa hedduu laamaa daadimatan. Barattooti fariisaayotaalle akkasuma tolchan, barattooti teeti ammoo hin nyaatanii, hin unan» jedhane.

³⁴ Yesuus deebisee, «Worri jila fuudhaa fi heerumaatii waamame* adoo waajibichi isaan waliin jiruu, akka laamu isin hin tolchitanii? Hin tolchitanu!

³⁵ Yennaan waajibichi isaan biraa fudhatamu ammoo hin dhutti. Isaan yennaa san laaman» isaaniin jedhe.

³⁶ Yesuus itti aansee, mammaassalle itti mammaakee, «Eennulle woyaa haareya tarsaasee woyaa dullatti'itti hin erbu. Yoo akkana tolche, woyaa haareya san hin tarsaasa. Erbeen woyaa haareyaa woyaa dullatti'iin wol hin fuutu.

³⁷ Akkasuma daadhii woyni'ii ta hin bayiin qalqalluu dulloometti eennulle hin naqu. Yoo akkana tolche, daadhiin sun qalqalluu san hin dhoochi, daadhiin hin jiddi, qalqalluulle hin bada.

³⁸ Tanaaf daadhiin hin bayiin qalqalluu haareyatti naqamu'uu malte!

³⁹ Nami daadhii woyni'ii ta baate uneen duuba ta hin bayiin uniisaaf barbaadu hin jiru. Inni, «Ta baate woyya» jedha» jedhe.

6

Gaaffii Marroo Guyyaa Sanbataa
(*Mat. 12:1-8; Mar. 2:23-28*)

¹ Guyyaa Sanbataa tokko Yesuus fichaa qamadi'ii keessa dabaruun, barattooti isaa mataa qamadi'ii kukkutanee, harkaan sukkuumatane, nyaatane.

² Fariisaayoti gariin, «Isin waan Seerri keenaa guyyaa Sanbataatiin hin tolchina'a jedhu, maaf tolchitan?» jedhanee gaafatane.

³ Yesuus deebisee, «Daawitii fi worri isa waliin jiranu yennaa beelowane, waan inni tolche isin hin dubbinnee?

* **5:34** Worri jila fuudhaa fi heerumaatii waamame: Hiikkaan gariin jaaloti jedha

⁴ Inni gara mana Waaqaa seenee, daabboo Waaqa dura dhikaattu, ta silaa hayyoota malee nami tokkolle akka hin nyaanne Seerri dhooggu fuudhee nyaatee, worra isa woliin jiranuufille kenne» jedheen.

⁵ Achiin duuba Yesuus isaaniin, «Ilmi Namaa Gootaa Sanbataa ti» jedhe.

Yesuus Namicha Harka Laashoweru Tokko Fayyise
(Mat. 12:9-14; 3:1-6)

⁶ Guyyaa Sanbata dhibi'ii Yesuus gara Mana Waaqonfannaa Yihudootaa dhagee barsiise. Namichi harka middicha laashoweru tokko achi jira.

⁷ Barsiisoti Seera Muuse'eetii* fi Fariisaayoti gariin sababa Yesuus ittiin himatanu barbaadane, akka inni guyyaa Sanbataatiin namicha fayyisu gaadane.

⁸ Yesuus ammoo yaada isaanii beekke namicha harka laashoweruun, «Ol ka'i, fuula nama maraa dura dhaabbadhu!» jedhe. Jennaan namichi ol ka'ee achi dhaabbate.

⁹ Achiin duuba Yesuus isaaniin, «Ani isin gaafadha: Seerri keenna guyyaa Sanbataatiin maan akka tolchinu nu ajaja? Dansaa moo hamaa tolchuu? Lubbuu namaa fayyisuu moo balleessuu?» jedhe.

¹⁰ Yesuus adaala isaanii mara ilaaleen duuba, «Namichaan harka keeti diriirfadhu» jedhe. Jennaan, inni harka diriirfatee, harki isaa deebi'ee fayye.

¹¹ Isaan akka malee aarane Yesuus maan akka tolchanu mari'atane.

Yesuus Ergantoota Kudhanii Lamaan Filate
(Mat. 10:1-4; Mar. 3:13-19)

¹² Gaafa tokko Yesuus gara gaaraa ol bayee halkan san duudii Waaqa daadimataa bule.

¹³ Yennaa latti bariite barattoota ifii gara ifii waamee, isaan keessaa worra kudhanii lamaan filatee, «Ergantoota» jedhee moggaase.

¹⁴ Isaanille, Simoon ka inni Pheexroos jedhee moggaase, Indiryaasii obboleessa Pheexroosii, Yaaqoob, Yohaannis, Filiphos, Bartolomewos,

¹⁵ Maatewoos, Toomaas, Yaaqoobii ilma Alfewosii, Simoon ka, «Hinaatticha» jedhamee beekkame,

¹⁶ Yihudaa ilma Yaaqoobiitii fi Yihudaa nama biyya keriyootii, ka Yesuus dabarsee kenne fa'a.

Barsiisiisaa Fi Dhibamaa Fayyisiisa Yesuusii
(Mat. 4:23-25)

¹⁷ Yesuus ergantoota woliin gaara irraa yennaa gad bu'e, barattoota ifii worra laakkossaan heddu'uu tokko woliin addee dirree takka dhaabbate. Gumiin hedduun ta Yihudaa keessaa mara, Yersaalem keessaa, qachoota cinaa abbaayaa Xiirosiitii fi Sidoon keessalle'ee achi jirti;

¹⁸ isaan isa dhage'iisaa fi dhukkuba ifille fayyiisaaf dhufane. Worri ayyaana hama'aan rakkatanelle fayyane.

¹⁹ Hunni fayyittu isa irraa bayaa isaan mara waan fayyisiisatti jirtuuf, kolbaan marti harka ifitiin isa tuqiisaaf wodhaante.

Gammadaa Fi Gadda
(Mat. 5:1-12)

²⁰ Ahiin duuba Yesuus barattoota ifii ilaalee,
«Isin worri amma hiyyeeyyiin gammada'a†;
mootummaan Waaqaa teessan!

²¹ Isin worri amma beelottanu gammada'a;
hin quuttan!

* **6:7 Barsiisoti Seera Muuse'ee:** Hiikkaan gariin barreessitoota qofa jedha. † **6:20 Gammada'a:** Ka badhaatane, ka eebbifantane

Isin worri amma boottanu gammada'a;

hin kollitan!

²² «Sababa ilma Namaatiif, yennaa kolbaan isin jibbitee, isin fojjee, isin arrassitee gurra isin balleessite, gammada'a!

²³ Gatii guddoo ol-gubba'atti waan qaddanuuf yennaa wonni kun teete gammadaan burraaqa'a. Abbootiin isaaniille raagota akkasuma tolchite.

²⁴ «Isin worra amma dureeyyi'iif aanne'e;

ka isin gewu fudhattaneertan‡!

²⁵ Isin worra amma quuttaneef aanne'e;

hin beelottan!

Isin worra amma koluuf aanne'e;

gadditane hin boottan!

²⁶ «Yennaa kolbaan marti isin saadde isiniif aanne'e; abbootiin isaaniille raagota dharaa akkasuma tolchite.

Diinota Jaalachuu

(Mat. 5:38-48; 7:12)

²⁷ «Ani ammoo isin worra na dhageettanuuf hima: Diina keessan jaal-adha'a, worra isin jibbuuf waan dansaa godha'a.

²⁸ Worra isin abaaru eebbisa'a, worra isin yakkulle'eef daadimadha'a!

²⁹ Yoo nami boqoo takkaa si dhabanaase, taanille itti garagalchi; yoo nami kootii teeti fudhate, shaamisiille hin dhooggatin!

³⁰ Nama si kadhatu maraaf kenni, nami tokko yoo waan keeti fudhate, akka inni si'iif deebisu hin gaafatin.

³¹ Waan namooti dhibiin akka isinii godhanuuf barbaaddanu isinille isaaniif godha'a.

³² «Worra isin jaalatu callaa yoo jaalattane, eebba maan dhaggattan ree? Cubbaaleyyiinuu worruma isaan jaalatu jaalatan.

³³ Worra waan dansaa isinii godhu calla'aaf yoo dansaa gootane, eebba maan dhaggattan ree? Cubbaaleyyiinuu akkuma san godhan.

³⁴ Worra akka isinii deebisu addattanu calla'aaf yoo liqeessitane, eebba maan dhaggattan ree? Waan liqeessane san deebi'anee fudhatiisaaf, cubbaaleyyiinuu cubbaaleyyi'iif hin liqeessan.

³⁵ Isin ammoo diinota keessan jaaladha'a, waan dansaalle isaaniif godha'a. Nu'uuf deebisan jettanee adoo hin yaadin liqeessa'a. Tana yoo gootane gatii guddoo hin dhaggattan, ijoollee Waaqa Ol Aana'aalle hin teetan. Inni worra galata hin qannee fi dabaaleyyi'iifille arja'a.

³⁶ Abbaan keessan ka ol-gubba'aa ka namaaf mararu akka te'e, isinille namaaf marara'a.

Namatti Muriisa

(Mat. 7:1-5)

³⁷ «Namatti hin murina'a, Waaqille isinitti hin muru; yakkaa namatti hin murina'a, Waaqille yakkaa isinitti hin muru; namaaf araarama'a, Waaqille isiniif hin araarama.

³⁸ Namaaf kenna'a, Waaqille isiniif hin kenna. Safaraa dansa'aan, gad miicamee, gingilfamee, irraan danbalaafamee isinii hin kennama. Safaraa isin worra dhibi'iif itti safartanetti Waaqille isiniif safara» jedhe.

³⁹ Yesuus itille mammaakee, «Ballaan ballaa sooressiisaaf hin dande'a? Yoo sooresse, isaan lamaanuu bowwaa bu'an.

⁴⁰ Barataan tokko barsiisaa hin caalu; ammoo nami leenjii guutuu fudhate maraa, akka barsiisaa ifii hin te'a.

6:22 1 Phex. 4:14 ‡ 6:24 Ka isin gewu fudhattaneertan: Biyya lafaatittuu gammaddaneertan, qananootaneertan

⁴¹ «Huura ila obboleessa keetii keessa jiru maaf ilaalta? Jigeessa ila teeti keessa jiru ammoo maaf hin hubanne?

⁴² Jigeessa ila teeti keessa jiruu adoo hin dhaggin, attamiin obboleessa keetiin, «Obboleessa kiyya, huura ila teeti keessa jiru san sii fuudha» jedhuu dandeetta? Ati nama kijiba'a! Dursiitii jigeessa ila teeti keessa jiru fudhadhu, achiin duuba huura ila obboleessa keetii keessa jiru fuudhiisaaf miidhassitee dhagguu hin dandeetta» jedhe.

Muki Midhaan Ifitiin Beekkama
(Mat. 7:16-20; 12:33-35)

⁴³ «Muki dansaan midhaan hamaa hin buusu, muki hamaalle midhaan dansaa hin buusu.

⁴⁴ Muki martinuu midhaan buusuun beekkama; midhaan harru'uu waacuu irraa yookiin midhaan woyni'ii kom'olcha irraa hin guuranu.

⁴⁵ Nami dansaan dansummaa gadhaa ifii keessaa waan dansaa baasa; nami hamaalle hammeenna gadhaa ifii keessaa waan hamaa baasa. Waan gadhaa guute afaan dubbata.

Namoota Mana Ijaaranu Lamaan
(Mat. 7:24-27)

⁴⁶ «Waan Ani isinitti himu adoo hin tolchin, maaf, «Goottaa, Goottaa» jedhaa na waantan.

⁴⁷ Nami gara kiyya dhufu, ka dubbii tiyyalle dhage'ee hujii irra oolchu, eennu akka fakkaatu Ani isinitti mudhisa.

⁴⁸ Inni nama mana ifii rassaa irratti gad fageessee qotee ijaarrate tokko fakkaata. Yennaa lolaan itti lola'ee mana san darbe ammoo rassaa irratti waan ijaarameeruuf, tachoosuu hin dandeenne.

⁴⁹ Nami dubbii tiyya dhage'ee hujii irra hin oolchine ammoo, nama hundee mana ifii adoo gad fageessee hin dhaabin ijaarrate fakkaata. Lolaan dhufee mana san yennaa darbe, takkumaan jigee, akka malee butute» jedhe.

7

Yesuus Tajaajilaa Ajajaa Dhibbaa Fayyise
(Mat. 8:5-13)

¹ Yesuus waan san mara kolba'aan jedheen duuba, gara Qifirnaahoomii deeme.

² Ajajaan dhibbaa ka worra Rooma'aa tokko achi jiraayyu; tajaajilaan inni guddoo jaalatu akka malee dhibamee du'iisaaf dhikaateeraayyu.

³ Ajajaan dhibbaa gurra Yesuusii yennaa dhage'e, akka inni dhufee tajaajilaa isaa fayyisuuf maanguddooti Yihudootaa gariin akka isa gaafattu itti erge.

⁴ Isaan gara Yesuusii dhufanee, «Nami kun dhugumaan qarqaarsa keeti dhaggachuu qaba.

⁵ Inni kolbaa teenna jaalata, Mana Waaqonfannaa Yihudootaalle nu'uuf ijaareera» jedhaa jabeessanee kadhatane.

⁶ Maarre Yesuus isaan woliin dhaqee, Yennaa gara manaa dhikaate ajajaan dhibbaa jaalota ifii itti ergee, «Goottaa kiyya, ati mana kiyya seeniisaaf ani nama malee moti! Ifi hin rakkisin;

⁷ maaf jennaan, ani nama gara keeti dhufiisaaf malee moti. Ammoo afaanuma calla'aan ajaji, mucaan kiyya hin fayya.

⁸ Anille nama baallii ol aantuu qabu jala nama jiru, loltoota ifiin jalatti ajajulle qaba. Isaan keessaa nama tokkoon, «Deemi» yoo jedhe, innille hin deema; ka dhibi'iin «Koy» yoo jedhe, innille hin dhufa; tajaajilaa kiyyalle'een, «Kana huji» yoo jedhe hin huja» jedhe.

⁹ Yesuus tana yennaa dhage'e baaseffatee gara worra isa hordofuu midhaatee, «Ani isinitti hima, dhugeeffannaa guddoo akkasii Israa'el keessalle'etti ijjumaa hin dhaggine» isaaniin jedhe.

¹⁰ Worri ergamanelle gara mana ajajaa dhibbaa deebi'anee yennaa dhufane tajaajilaan isaa fayyeeruun dhaggane.

Yesuus Ilma Haadha Hiyyeessaa Tokko Du'aa Kaase

¹¹ Eega san adoo hin turin, Yesuus gara qachaa Naayin jedhamuu tokko dhage; barattooti isaatii fi gumiin guddoolle isa woliin deemane.

¹² Yennaa Yesuus seensuma karra qacha'aa bira geye, namooti reeffa ba'ataneeranu itti dhufane. Nami du'eeru sun haadha hiyyeessaa takkaafi ilma tokkocha. Gumiin guddoon qachaa sanii isii woliin jirti.

¹³ Gootaan yennaa isii dhagge, nayeefii, «Hin bowin» jedheen.

¹⁴ Itti hiiqeelle raree reeffaan ba'ataneeranu harkaan tuqe. Worri reeffa ba'ateerulle dhaabbate; Yesuus, «Dargaggeessa! Ani si'iin jedha ka'i!» jedhe.

¹⁵ Dargaggeessi du'e sun ol ka'ee tee'ee dubbatiisa jalqabe. Achiin duuba Yesuus deebisee haadhaaf isa kenne.

¹⁶ Isaan martinuu sodaatanee, «Raagaan guddaan nu'uma keessaa ka'eera; Waaqi kolbaa ifii fayyisu'uuf dhufeera» jedhanee Waaqa galateeffatane.

¹⁷ Gurri Yesuusii biyya Yihuda'aa maraa fi adaala biyya sanii maratti dhage'ame.

*Worra Yohaannisiiin Cuuphaan Erge
(Mat. 11:2-19)*

¹⁸ Barattooti Yohaannisii waan kana mara yennaa isatti himane, Yohaannis barattoota ifii keessaa lamaan waamee,

¹⁹ «Ka dhufu'uu male si'iiyyu moo ka dhibii eeganna?» jedhee, akka Gootaa gaafatanuuf erge.

²⁰ Worri ergamane yennaa gara Yesuusii dhufane, «Yohaannisiiin cuuphaan, «Ka dhufu'uu male si'iiyyu moo ka dhibii eeganna?» jedhee gara keeti nu ergeera» jedhaneen.

²¹ Yennuma san Yesuus kolbaa hedduu dhibee irraa, dhukkuba adda addaa irraa, ayyaanota hamoota irraa fayyisee, worra ila balla'aa hedduulle ila bane.

²² Ergantoota Yohaannisiiitille'een, «Deebi'aatii, waan dhaggitanee fi waan dhageettane Yohaannisitti hima'a! Ballaan hin dhagga, naafi hin ideema, ka dhukkuba goga'aa farrisiisa'aan qabameeru hin fayya, duudaan hin dhage'a, du'aan hin ka'a, Oduun Gammadaa hiyyeeyyi'iif hin lallabanti.

²³ Nami mamee anaan hin gufanne* ka badhaadhe!» jedhe.

²⁴ Ergantooti Yohaannisii deemaneeeranuun duuba, Yesuus marroo Yohaannisii gumi'itti dubbatiisa jalqabee: «Maan ilaaliisaaf gara goomole'ee dhaxxane? Shonboqqoo qilleensi daassuu?

²⁵ Maan ilaaliisaaf baatane? Nama uffana dansaa uffatee? Worri uffata dansaa uffatee fi qananiin mana moototaatitti dhaggaman.

²⁶ Natti hima'a, maan ilaaliisaaf baatane? Raaga'a moo? Eeti, ka Raagaa caalu dhaggitane.

²⁷ Barreeffam Woyyichi marroo Yohaannisiiitiif, «Ani ergamaa kiyya ka karaa keeti qopheessu si'iin dura erga» jedheera.

²⁸ Ani isinitti hima, nama lafa irratti dhalate keessaa, ka Yohaannis caalu hin jiru. Ammoo mootummaa Waaqaa keessatti ka mara caalaa diqqaatu isa caala» jedhe.

* **7:23** *Anaan hin gufanne: Anatti addii hin kutanne*

²⁹ Kolbaan martinuu, worri qaraxa guurulle adoo hin hafin, yennaa dubbii Yesuusii dhage'ane, waan harka Yohaannisii cuuphamaneeranuuf, Waaqaaf dhugaa galchane.

³⁰ Fariisaayotii fi barsiisoti Seeraa ammoo, waan Waaqi isaanii yaadate tuffatanee, harka Yohaannisii cuupha'aatitti cuuphamuu didatane.

³¹ Yesuus itti dabalee, «Kolbaa bara kanaa tana maaniin wol fakkeessa? Isaan maan fakkaatan?

³² Isaan akka ijoollee dikkoo keessa teteetee, «Suusullee† isinii afuunne, isin ammoo hin sirbine; faaruu awwaalaa isinii faarsine; isin ammoo hin boonne» jedhaa wolitti woccu fakkaatan.

³³ Yohaansiin cuuphaan adoo sagalee hin nyaatin, daadhii woyni'iille hin unin dhufee jennaan, «Inni durriisa ifi keessaa qaba» jettane.

³⁴ Ilmi Namaa ammoo, nyaataa unaa dhufee jennaan, «Nama kana ilaala'a! Inni gadhitoo, machowaa, jaala worra qaraxa guuruutii fi cubbaaleyyi'ii ti» jettane.

³⁵ Te'uu malee, qaruu Waaqaa worra isii fudhatu‡ maraan dhugaa akka teete mirkanootteerti» jedhe.

Dubartiin Takka Yesuus Fiqiree Issite

³⁶ Fariisaayichi tokko Yesuus akka isa woliin nyaatuuf waamee, Yesuus mana isaa dhagee nyaatiisaaf tee'e.

³⁷ Qachaa san keessa dubartii cubbaaletti takkatti jira. Maarre isiin akka inni mana Fariisaayichaatti nyaatiisatti jiru dhageetee, fiqiree duloo albaasaaxarii irraa hojjatante guutuu fiddee,

³⁸ Yesuusiin duuba miila isaa bira dhaabbattee, bowaa imimmaaniin miila isaa jitte. Achiin duuba rifeensa mataa ifitiin miila isaa haxoottee, sunqataa fiqiree issite.

³⁹ Fariisaayichi yennaa tana dhagge, «Nami kun dhugumaan raagaa adoo te'ee, dubartiin isa qaqqaddu tun dubartii attamii akka teete hin beekaayyu; akka isiin cubbaaletti'ii hin beekaayyu» jedhee gadhaa ifititti yaadate.

⁴⁰ Yesuus isaan, «Simoon, ani waan si'itti himu qaba» jedhee dubbate.

Innille «Barsiisa'a, Maan inni? Natti himi!» jedhe.

⁴¹ Namicha beesee liqeessu tokko irraa namooti lamaan ka beesee liqe-effataneeranu jiran. Tokkochi mindaa gara woggaa lamaa fi wodhakka'aa dhiyaatu§ liqeeffatee, kuun mindaa gara ji'a sadii dhiyaatu* liqeeffate.

⁴² Isaan lamaanuu waan deebisane kaffalanu dhabanee jennaan, inni akkasumaan isaaniif lakkise. Jara lamaan tana keessaa kamitti irra isa jaalata?

⁴³ Simoon deebisee, «Ka liqaan guddaan isaa lakkifametti irra jaalata natti fakkaata» jedhe.

Yesuus, «Dhugaa jette» jedheen.

⁴⁴ Achiin duuba gara dubartitti'ii garagalee, Simooniin, «Dubartii tana dhaggitaa? Yennaa ani mana keeti dhufe ati bisaan miilaa naaf hin kennine. Isiin ammoo imimmaan ifitiin miila kiyya dhixxee, rifeensa mataa ifitiin haxxe.

⁴⁵ Ati sunqattee na hin fudhanne, isiin ammoo haga ani dhufee jalqaddee miila kiyya sunqatiisa hin lakkinne.

⁴⁶ Ati mataa kiyya zayitii† hin issine, isiin ammoo fiqiree gatii guddo'oo miila kiyya issite.

^{7:29} Mat. 21:32; Luq. 3:12 † ^{7:32} Suusullee: Ulullee ‡ ^{7:35} Worra isii fudhatu: Ijoollee isi'ii
§ ^{7:41} Mindaa gara woggaa lamaa fi wodhakka'aa dhiyaatu: Dinaara dhibba shan * ^{7:41} Mindaa gara ji'a sadii dhiyaatu: dinaara shantama † ^{7:46} Zayitii: Akkuma Gujiin dhadhaa iffatu isaan zayitii iffatan

⁴⁷ Maarre, ani si'iin jedha, jaalalli guddaan isiin mudhitte kun, cubbuu isi'ii heddu'uuf araarri akka kenname mirkaneessa. Nami araarri diqqaan kennameef ammoo, jaalala diqqaa callaa mudhisa» jedhe.

⁴⁸ Achiin duuba Yesuus dubartitti'iin «Cubbuu teetiif araarri kennameera» jedhe.

⁴⁹ Worri dhibiin ka isa woliin nyaatiisatti jiranu gariin, «Ka araara cubbu'uu kennu kun, eennu inni?» wol woliin jedhane.

⁵⁰ Yesuus ammoo dubartitti'iin, «Dhugoeffannaan teeti si fayyitteerti; nageyaan deemi» jedhe.

8

Dubartoota Yesuus Hordofane

¹ Kanaan duuba adoo hin turin, Yesuus Oduu Gammadaa ta mootummaa Waaqaa lassaa lallabaa qachootaa fi olloota keessa ideeme. Barattooti isaa kudhanii lamaanii,

² fi dubartooti gariin ta ayyaana hama'aa fi dhukkuba irraa fayyanelle isa woliin jiraniyyu. Isaan san keessalle'ee Maariyaamii Magdalaa ta jedhantu, ta durriisoti torba keessaa baafame,

³ Yo'anaa niitii Kuuzaa mana Heroodisii toowatuu, Susanaa fi dubartooti hedduun dhibiin ta karra ifitiin Yesuusii fi barattoota isaa qarqaarane.

Mammaassa Namicha Sanyii Facaasuu

(Mat. 13:1-9; Mar. 4:1-9)

⁴ Yennaa gumiin hedduun qachaa adda addaatii Yesuus biratti wolitti qabante, inni itti mammaakee:

⁵ «Namichi tokko sanyii facaasiisaaf baye. Adoo inni facaasuu sanyiin gariin irga kara'aa buutee, irra ijjatante; sinbirrootille qocattee nyaate.

⁶ Sanyiin dhibiin lafa dhakittii irra buutee, yennaa mudhiisa jalqadde, biyyeen jiidha waan hin qanneef godde.

⁷ Sanyiin dhibiin qoree keessa buutee, qoreen woliin guddattee huute.

⁸ Sanyiin gariin biyyee dansaa keessa buute; lattee guddattee, tokkoon tokkoon isi'ii midhaan dachaa dhibba buutte» jedhe.

Yesuus yennaa dubbii tana dubbatee fixe, «Gurra dhage'u ka qabu dhage'uuti!» jedhe.

Mammaassi Maaf Akka Barbaachise

(Mat. 13:10-17; Mar. 4:10-12)

⁹ Barattooti Yesuusii hiikkaa mammaassa kanaa isa gaafatane.

¹⁰ Inni deebisee, «Dhossaa mootummaa Waaqaa akka beettanu isiniif kenanteerti; worra kaaniif ammoo adoo ilaalanuu akka hin dhaggine, adoo dhagganuu akka hin hubanne, mammaassaan kennanti.

Hiikkaa Mammaassa Namicha Sanyii Facaasuu

¹¹ «Hiikkaan mammaassaa kunoo kana: Sanyiin dubbii Waaqaa ti.

¹² Sanyiin karaa irga buute, worra dubbii Waaqaa dhage'ee, durriisi ammoo dhufee akka isaan dhugoeffatanee ittiin hin fayyine, dubbii san gadhaa isaanii keessaa fudhatu.

¹³ Sanyiin lafa dhakittii irra buute, worra dubbii Waaqaa dhage'ee gammadaan fudhatu. Ammoo hidda waan hin qanneef, yennaa gofaaf dhugeeffatan; yennaan haga ilaalichaa yoo dhutte ammoo hin jigan.

¹⁴ Sanyiin qoree keessa buute, worra dhage'u; akkuma bulanee oolanuun ammoo yaaddoon, karraa fi gammachuun jiruu lafa tanaa isaan huutee, midhaan isaanii ijjumaa hin sibu.

¹⁵ Sanyiin biyyee dansaa keessa buute, worra dubbii dhage'ee gadhaa qajeela'aa fi dansa'aan jabeessee qabatee, ciniinnatee ossiisaan midhaan buusu.

Ifa Gonbisaa Jalaa

(Mar. 4:21-25)

¹⁶ «Eennulle ifa issee, gonbisaa jala yookiin taqee jala hin keyu; worri gara manaa seenu akka ifa dhagguuf waan issaan irra keyamu irra keya.

¹⁷ «Wonni dhokate ka hin mudhanne hin jiru, wonni buqame ka hin beekkannee fi gara ifaa hin baane hin jiru.

¹⁸ Tanaaf akka itti dhageettanu ifi eeggadha'a! Ka qabuuf ede'antee kennanti, ka hin qanne ammoo wonni inni hin qaba jedhee yaadatu diqqoon sunuu irraa fudhatanti» jedhe.

Haadhaa Fi Obboleeyyan Yesuusii

(Mat. 12:46-50; Mar. 3:31-35)

¹⁹ Haatii fi obboleeyyan Yesuusii gara isaa dhufane; ammoo sababa gumi'iitiif isa bira geyiisa hin dadeenne.

²⁰ Nami tokko Yesuusiin, «Haati teetii fi obboleeyyan teeti si dhaggiisaaf barbaadane ala dhaabbatan» jedhe.

²¹ Yesuus ammoo deebisee, «Haati tiyyaa fi obboleeyyan tiyya worra dubbii Waaqaa dhage'ee hujii irra oolchu» isaaniin jedhe.

Yesuus Bubbee Cadhisiise

(Mat. 8:23-27; Mar. 4:35-41)

²² Gaafa tokko Yesuus barattoota ifii woliin hoboloo yaabee isaaniin, «Ka'aa gara abbaaya'aan gamaa buunaa» jedhe. Maarre isaan deemiisaaf ka'ane.

²³ Adoo isaan hobolo'oon bu'iisatti jiranuu, Yesuus rafe. Dedhuma bubbeen gara abbaaya'aa gad bubbittee, hoboloon bisaaniin guutamiisa jalqaddee jennaan, buutoo hantuu afaan bu'ane.

²⁴ Barattooti gara Yesuusii dhaqanee dammassanee, «Barsiisaa, barsiisaa! Kunoo dhumataarra!» jedhaneen.

Inni dammaqee bubbe'ee fi danbalii xixe; bubbe'ee fi danbaliin bisaaniille cadhisanee, cadheessi guddaan te'e.

²⁵ Achiin duuba inni barattootaan, «Dhugoeffannaan teessan meet?» jedheen.

Isaan ammoo sodaatanee baaseffatanee, wol woliin, «Nami kun eennu? Inni bubbe'ee fi danbalii hin ajaja, isaanille isaaf hin ajajaman!» jedhane.

Yesuus Namicha Durriisaan Qabameeru Tokko Fayyise

(Mat. 8:28-34; Mar. 5:1-20)

²⁶ Yesuusii fi barattooti isaa Abbaayaa Galiila'aatiin gama, gara biyya Gergeesa'aa hobolo'oon bu'ane.

²⁷ Akkuma Yesuus qarqara bisaaniititti bu'een, namichi qachaa sanii, ka durriisaan qabameeru tokko itti dhufe. Namichi kun yennaa hedduu woyaa hin uffatu, manalle hin le'u, ammoo yennaa hedduu goda awwaalaa keessa le'a.

²⁸ Inni yennaa Yesuus dhagge, miila isaa duratti jigee, guddisee iyyee, «Ee Yesuus, Ilma Waaqa Ol Aana'aa! Maan na irraa qadda? Ani si kadhadaa, na hin rakkisin!» jedhe.

²⁹ Waan Yesuus akka ayyaanni hamaan namicha keessaa bayu ajajeeruuf, inni akkana jedhe. Yennaa hedduu ayyaanni hamaan waan itti ka'uuf, wodaroo sibiilaatii fi sibiila miilaatiin hidhamaa eegamulle, hidhaa san kukkuta, hunna ayyaana hama'aatiin gara goomole'ee oofamaa ture.

³⁰ Yesuus, «Maqaan keeti eennu?» jedhee isa gaafannaan, durriisoti bacaan waan itti galaneeranuuf, inni deebisee, «Maqaan kiyya duula» jedhe.

³¹ Durriisoti gara bowwaa qile'ee akka isaan hin ergine Yesuus kadhatane.

³² Roga gooroo sanii gubbaa, booyyoti hedduun bobbaatee dheediisatti jirtiyyu. Maarre durriisoti gara booyyotaa akka galanuuf, Yesuus akka eeyyamu kadhatane; innille isaaniif eeyyame.

³³ Durriisoti namicha keessaa bayanee booyyotatti galane. Booyyoti sun martinuu roga qile'ee irraa gad gara abbaaya'aa oriitee liqinfante.

³⁴ Worri booyyee tissanu yennaa waan te'e kana dhaggane, baqatanee worra qacha'aatii fi biyya saniititti odeessane.

³⁵ Kolbaan waan te'e san dhaggiisaaf, yennaa gara Yesuusii dhutte, namichi durriisi keessaa baye woyaa uffatee qalbiin itti deebitee, miila Yesuusii bira tee'eeruun dhaggite martinuu sodaatte.

³⁶ Namichi attam akka itti fayye worri dhaggane kolba'atti himane.

³⁷ Achiin duuba kolbaan biyya Gergeesa'aa martinuu akka malee waan sodaatteef, Yesuus akka isaan lakkisee deemuuf gaafatte. Maarre Yesuus hoboloo yaabee achii deeme.

³⁸ Namichi durriisoti keessaa bayane, «Si woliin deemuu?» jedhee Yesuus kadhate.

Yesuus ammoo,

³⁹ «Gara mana keetii deebi'ii, waan Waaqi si'iif godhe himi» jedhee isa erge. Namichi waan guddoo Yesuus isaaf godhe himaa, qachaa keessa deeme.

*Intala Yaayiroosiitii Fi Dubartittii Woyaa Yesuusii Tuxxe
(Mat. 9:18-26; Mar. 5:21-43)*

⁴⁰ Yennaa Yesuus gara abbaaya'aan gamaa deebi'e, isaan martinuu waan isa eegiiisatti jiranuuf, kolbaan isa fudhatte.

⁴¹ Achiin duuba namichi Yaayiroos jedhamu, bulchaan mana Waaqonfannaa Yihudoota tokko dhufee, miila Yesuusii jalatti jigee akka inni gara mana isaa dhaquuf kadhate.

⁴² Sababille intalti isaa takkattiin inni qabu, ta woggaa kudhanii lamaa, du'iisa geetteertiyyu.

Adoo Yesuus dhaqiisaaf karaa irra jiruu, kolbaan gara maraan isa dhiphitte.

⁴³ Dubartittiin woggaa kudhanii lamaaf dhiigi dhaabbatuu didee rakkataa turte takka achi jirti; waan qaddu maraa cidheeyyi'itti fixxe; eennulle ammoo isii fayyisu'uuf hin dandeenne.

⁴⁴ Isiin duuba Yesuusiitiin dhuttee handaara woyaa isaa tuxxee, dhiigi isi'ii ka jigu yoosuma dhaabbate.

⁴⁵ Yesuus, «Ka ana tuqe eennu?» jedhee gaafate. Nami martinuu morman-naa, Pheexroos, «Barsiisa'a, kolbaan marti si dhiphittee, si dhiibiisatti jirti» jedhe.

⁴⁶ Yesuus ammoo, «Hunni fayyittu na keessaa akka baate ani waan beekuuf, nami tokko na tuqeera» jedhe.

⁴⁷ Dubartittiin akka dhokattee hafa hin jirre dhaggitee, roromma dhuttee miila Yesuusiititti jidde. Achiin duuba maaf akka isa tuxxee fi yoosuma attam akka fayyite kolbaa duratti itti hinte.

⁴⁸ Yesuus isi'iin, «Intala tiyya dhugeeffannaan teeti si fayyitteerti; nageyaan deemi» jedhe.

⁴⁹ Adoo Yesuus tana dubbatiiisatti jiruu, nami tokko mana Yaayiroosii bulchaa Mana Waaqonfannaa Yihudootaatii dhufee, «Intalti teeti duuteerti. Yoona barsiisaa hin rakkisin» jedhe.

⁵⁰ Yesuus ammoo yennaa waan kana dhage'e Yaayiroosiin, «Hin sodaatin; dhugeeffadhu malee, intalti teeti hin fayyiti» jedhe.

⁵¹ Yesuus mana Yaayiroosii bira yennaa geye, Pheexroos, Yohaannis, Yaaqoob, abba'aa fi haadha intalaa malee eennulle isa woliin akka seenuuf hin eeyyanne.

⁵² Namooti achi jiranu martinuu intalaaf bowanee wiiccifatane. Yesuus ammoo, «Hin bowina'a; intalti rafiisatti jirti malee, hin duune» jedhe.

⁵³ Isaan akka intalti duuteertu waan beekanuuf, marti isaaniituu itti kollane.

⁵⁴ Yesuus ammoo harka isi'ii qabee, «Intala, ka'!» jedhee waame.

⁵⁵ Lubbuun isi'ii itti deebitee, yoosuma ol kaate; Yesuus ammoo waan nyaattu akka isi'iif kennanu isaan ajaje.

⁵⁶ Worri isi'ii maalalfatane; Yesuus ammoo waan te'e kana eennulle'etti akka hin hinne isaan ajaje.

9

Yesuus Ergantoota Kudhanii Lamaan Erge

(Mar. 10:5-15; Mar. 6:7-13)

¹ Yesuus ergantoota kudhanii lamaan wolitti waamee, akka dhukkuba fayyisanuu fi durriisota baasanu hunnaa fi baallii isaaniif kenne.

² Achiin duuba mootummaa Waaqaa akka lallabanuu fi worra dhibamaa akka fayyisanu erge.

³ Inni isaaniin, «Ideemiisa kara'aatiif womaa hin qabatina'a: ulee yookiin korojoo, galaa yookiin beese, woyaa uffattane malee ta dhibii hin qabatina'a.

⁴ Mana seentanu maratti, qachaa sanii baatanee haga deentanutti achuma tura'a.

⁵ Yoo kolbaan isin fudhatiisa dhadde, akka beessisa isaanitti teetu bukuu miila keessanii hargufadha'aatii qachaa sanii deema'a» jedhe.

⁶ Maarre ergantooti achii bayanee olloota maraa keessa Oduu Gammadaa lallabaa, kolbaa fayyisaa deemane.

Mamiisa Heroodisii

(Mat. 14:1-12; Mar. 6:14-29)

⁷ Kolbaan gariin Yohaannisii Cuuphaan du'aa ka'eera jedhiisatti waan jirtuuf, bulchaan Galiila'aa Heroodis, waan te'iisatti jiru mara dhage'ee, guddoo mame.

⁸ Worri dhibiin Eliyaas mudhateera, worri dhibiille raagota durii keessaa tokkochatti du'aa ka'eera jedhane.

⁹ Heroodis, «Ani morma Yohaannisii mureeraayyu; nami ani waan isaa dhage'u kun ammoo eennu inni?» jedhe. Isa dhaggiisaafille barbaade.

Yesuus Nama Kuma Shan Areere

(Mat. 14:13-21; Mar. 6:30-44; Yoh. 6:1-14)

¹⁰ Ergantooti deebi'anee waan hujane mara Yesuusitti himane. Achiin duuba inni isaan qofa fudhatee, gara qachaa Betsayidaa jedhamuu tokko dhage.

¹¹ Kolbaan marroo waan kanaa yennaa dhageette, isa hordotte. Innille isaan fudhatee, marroo mootummaa Waaqaa barsiisee, worra dhibee irraa fayyiisi barbaachiselle fayyise.

¹² Yennaa latti galgalootte, barattooti kudhanii lamaan gara Yesuusii dhufanee, «Addeen nuuti jirru tun lafa qoommii waan teeteef, gara olla'aa fi oorruu adaala kanaa dhaqanee waan nyaatanuu fi addee bul'i'ii akka barbaadatanu kolbaa tana gad lakkisi» jedhane.

¹³ Yesuus ammoo, «Isinuu waan isaan nyaatanu kenna'aaf» isaaniin jedhe.

Isaan ammoo, «Yoo dhandhee sagalee kolbaa tana duudi'iif geettu binne malee, nuuti daabboo xaltaa shanii fi qurxummii lama qofa qanna» jedhane.

¹⁴ Dhiirti gara kuma shanii achi jirtiyyu.

Yesuus barattoota ifitiin, «Akka namooti cinna shantama shantamaan tee'anu tolcha'a» jedhe.

¹⁵ Barattooti akkuma inni jedhe nama maraa teessisane.

¹⁶ Yesuus daabboo xaltaa shanii fi qurxummii lama fuudhee, gara ol-gubba'aa ilaalee, Waaqaaf galata galchee, caccassee, kolba'aaf akka qoodanu barattootatti kekenne.

¹⁷ Isaan martinuu nyaatanee quufanee, hambaa irraa hatte barattooti kollonjoo kudhanii lama fuudhane.

Pheexroos Ebeluu Yesuusii Hime
(Mat. 16:13-19; Mar. 8:27-29)

¹⁸ Gaafa tokko yennaa Yesuus qofii ifi daadimatiisatti jiru, barattooti isaa gara isaa dhufane. Inni, «Namooti eennu anaan jedhan?» jedhee isaan gaafate.

¹⁹ Isaanille, «Gariin Yohaannisii cuupha'a si'iin jedhan; gariin Eliyaas si'iin jedhan; worri dhibiin raagota durii keessaa tokkochatti du'aa ka'eera si'iin jedhan» jedhane deebisane.

²⁰ Yesuus, «Isin hoo eennu anaan jettan?» jedhee isaan gaafate.

Pheexroos deebisee, «Ati Masiihii Waaqaa ti» jedheen.

Yesuus Marroo Rakko'oo Fi Du'a Ifii Dubbate
(Mat. 16:20-28; Mar. 8:30–9:1)

²¹ Achiin duuba Yesuus waan kana eennulle'etti akka hin hinne jabeessee isaan ajaje.

²² Inni itti dabalee, «Ilmi namaa jaarsolee biyyaa, sooreyyii hayyootaatii fi barsiisota seeraatiin tuffatamee guddoo rakkata, hin ijjeefama, guyyaa sadiin duuba ammoo hin ka'a» jedhee isaanitti hime.

²³ Achiin duuba isaan maraan, «Nami na hordofiisaa barbaadu yoo jiraate, ifi mormatuu ti, guyyuma guyya'aan fannoo ifi ba'atee, na hordofuu ti.

²⁴ Nami jiruu ifii fayyifatiisaaf barbaadu jiruu ifi hin balleessa, ammoo yoo naaf jedhee jiruu ifii balleesse jiruu ifi hin fayyifata.

²⁵ Nami biyya lafaa duudii qabaatee jiruu ifi yoo balleesse yookiin dhid-hise maan isaa baati?

²⁶ Nama anaa fi dubbii tiyyatti fokkifatu, Ilmi Namaa ulfinna ifii, ulfinna abbaa ifiitii fi ergantoota woyyootaatiin yennaa dhufu itti hin fokkifata.

²⁷ Ani dhugumaan isinitti hima, namoota as dhaabbataneeranu kana keessaa adoo hin du'in, Mootummaa Waaqaa ka dhagganu hin jiran» jedhe.

Jijjiiramiisa Bifa Yesuusii
(Mat. 17:1-8; Mar. 9:2-8)

²⁸ Yesuus waan kana dubbatee, gara guyyaa saddeetiitiin duuba Pheexroos, Yohaannisii fi Yaaqoob fudhatee daadimatiisaaf gara gaaraa ol baye.

²⁹ Adoo inni daadimatiisatti jiruu bifi fuula isaa jijjiiramee woayaan isaalle adii calalaxxu teete.

³⁰ Dedhuma namooti lamaan Muuse'ee fi Eliyaas isa woliin dubbatiisatti jiranuun dhaggane.

³¹ Isaan ulfinna ol-gubba'aatiin mudhatanee marroo waan Yesuus du'iisaan Yersaalemitti muummessu'uu jiruu dubbatiisatti jiraniyyu.

³² Pheexroosii fi worri isa waliin jiranu dunquuqquu hirriiba irra jiran; yennaa dammaqane ammoo ulfinna Yesuusiitii fi namoota lamaan ka isa waliin dhaabbatiisatti jiranu dhaggane.

³³ Akkuma namooti lamaan Yesuus lakkisane deemanee, Pheexroos Yesuusiin, «Barsiisa'a! Asitti dhaggamuun keenna waan dansa'a; gosee sadiin, takkattii si'iif, takkattii Muuse'eef, takkattii Eliyaasiif ijaarra» jedhe; Pheexroos waan dubbatiisatti jiruuyyuu hin beenne.

³⁴ Adoo inni dubbatiisatti jiruu, duumensi dhufee gaaddisa ifitiin isaan golle; barattootille duumensa keessa yennaa seenane sodaatane.

³⁵ Duumensa keessaa, «Kun Ilma kiyya, ka ani filadhe; isa dhage'aa!» qoonqoon jettu dhage'ante.

³⁶ Qoonqoon dhage'anteen duuba, Yesuus qofi jiruun dhaggane. Barattootille cadhisane malee, waan yennaa san dhaggane mara nama tokkolle'etti hin hinne.

Yesuus Mucaa Ayyaana Hama'aan Qabame Fayyise
(Mat. 17:14-18; Mar. 9:14-27)

³⁷ Guyyaa itti aanu Yesuusii fi barattooti isaa sadiin yennaa gaara irraa gad bu'anu, gumiin guddoon Yesuusiin wol dhaggite.

³⁸ Gumii keessaa nami tokko qoonqoo guddoon, «Barsiisa'a! Akka ati ilma tokkocha kiyya naa laaltuuf, si kadhada.

³⁹ Ayyaanni hamaan dedhuma itti ka'aa iyyisiisa, lafatti isa dhowee wixirachiisee, afaan isa hoomacheessa; miidhaa tureen duuba farra jaddu'uun gad lakkisa.

⁴⁰ Ani akka barattooti teeti baasanuuf kadhada; isaan ammoo hin dandeenne» jedhe.

⁴¹ Yesuus deebisee, «Isin dhaloota dhugeeffannaa hin qannee fi jalliyyee kana! Haga yoomii isin waliin jiraadha? Haga yoomii isin ossadha? Me mucaa keeti as fidi» jedhe.

⁴² Adoo mucaan gara Yesuusii dhufiisatti jiruu, ayyaanni hamaan lafatti isa dhowee wixirachiise. Yesuus ammoo ayyaana hamaa san xixee, mucaa fayyisee, abbaa isaatiif deebisee kenne.

⁴³ Kolbaan marti guddinna hunna Waaqaa baaseffatte.

Yesuus Ammalle Marroo Du'aa Fi Du'aa Ka'a Ifi Dubbate
(Mat. 17:22,23; Mar. 9:30-32)

Kolbaan martinuu waan Yesuus hojjate maraa adoo maalalfattuu, inni barattoota ifitiin,

⁴⁴ «Dubbii ani isinitti himu tana gurratti fudhadha'a! Ilmi namaa dabarfamee harka ilmaan namootaati hin kennama» jedhe.

⁴⁵ Barattooti ammoo dubbii tana hin hubanne. Hiikkaan isaan duraa waan dhokatteertuuf hubatuu hin dandeenne; dubbii tana isa gaafatiisalle sodaatane.

Ka Caalu Eennu?
(Mat. 18:1-5; Mar. 9:33-37)

⁴⁶ Barattoota oddu'utti isaan keessaa ka caalu eennu akka te'e wol mormiin kaate.

⁴⁷ Yesuus yaada isaanii beekke, daa'ima tokko fuudhee, cinaa ifii dhaabbachiisee,

⁴⁸ isaaniin, «Daa'ima kana maqaa kiyyaan ka fudhatu na fudhata; ka ana fudhatu, ka na ergelle fudhata. Nami isin maraa keessaa gade'ee isin maraa caala» jedhe.

Ka Isiniin Hin Mormine Golii Teessan
(Mar. 9:38-40)

⁴⁹ Yohaannis deebisee, «Barsiisa'a, namichi tokko maqaa keetiin durriisota baasuun dhagginee, waan inni golii teenna te'uu dhabeef, isa dhooggine» Yesuusiin jedhe.

⁵⁰ Yesuus ammoo, «Ka isiniin hin mormine mara golii teessan waan te'eef, isa hin dhooggina'a!» jedhe.

Ollaan Samaariya'aa Yesuus Fudhatuu Dide

⁵¹ Yennaan Yesuus gara ol-gubba'aa fudhatamu dhikaannaan, gara Yersaaleemii deemiisaaf muratee ka'e.

⁵² Gara ollaa Samaariya'aa dhaganees waan mara akka isaaf qopheessanuuf, inni ergantoota ifiin dura erge.

⁵³ Kolbaan ollaa sanii ammoo akka inni gara Yersaaleemii deemiisatti jiru waan beetteef, isa fudhatiisa didde.

⁵⁴ Barattooti isaa Yaaqoobii fi Yohaannis waan kana yennaa dhaggane, «Gootta'a, ibiddi ol-gubbaa irraa bu'ee akka isaan balleessu akka ajanyu hin eeyyanta?» jedhane.

⁵⁵ Yesuus ammoo garagalee isaan xixee, [«Isin ayyaana attamii irraa akka teetane hin beettanu; Ilmi Namaa lubbuu namaa fayyisiisaaf malee balleessiisaaf hin dhunne»]* jedhe.

⁵⁶ Achiin duuba isaan gara ollaa dhibi'ii ka'anees deemane.

Jara Sadiin Yesuus Hordofiisaaf Barbaadde Takka
(Mar. 8:19-22)

⁵⁷ Adoo isaan karaa ideemiisatti jiranuu, namichi tokko Yesuusiin, «Addee ati dhaxxu mara ani si faana dhaqa» jedhe.

⁵⁸ Yesuus deebisee, «Jeedalti boolla qaddi; sinbirreelle mana qaddi; Ilmi namaa ammoo addee mataa ifii itti irkifatu hin qabu» jedhe.

⁵⁹ Nama dhibi'iin, «Na hordofi» jedhe.

Nami sun ammoo, «Goottaa, dursee dhagee abbaa kiyya awwaaladha naa eeyyam» jedhe.

⁶⁰ Yesuus deebisee, «Du'aan du'aa ifii awwaalatuu ti. Ati ammoo dhaqiitii mootummaa Waaqaa lallabi» jedhe.

⁶¹ Achiin duuba ammalle nami dhibiin, «Gootta'a, ani si hordofa; ammoo dursee dhagee maatii tiyyaatii nageya akka dhaamuuf naa eeyyami» jedhe.

⁶² Yesuus isaan, «Nami qottoo† harkatti qabatee, ifiin duuba ilaalu mootummaa Waaqaatiif hin te'u» jedhe.

10

Yesuus Nama Torbaatamii Lama Erge

¹ Kanaan duuba Gootaan nama torbaatamii lamaan dhibii filatee, gara qacha'aa fi addee ifii dhaqu'uuf jiruu mara lamaan lamaaniin ifiin dura erge.

² Inni isaaniin, «Midhaan haamamu gudda'aa, worri haamu ammoo diqqa'a; abbaan midhaanii worra haamu gara ficha'aa akka erguuf daadi-madha'a.

³ Amma beena'a! Kunoo ani akka ilmoolee hoole'ee yayyii odduu isin erga.

⁴ Korojoo yookiin subba yookiin kophee hin qabatina'a; eennulle nageya fuudhiisaaf kara'atti hin dhaabbatina'a.

⁵ Mana tokko yennaa seentane duraan dursa'aatii, «Nageenni mana kanaaf te'uu!» jedha'a.

* 9:55 Woraabbiin gariin hima kana hin qabu † 9:62 Qottoo: Qottoon meeshaalee adda addaa ka ittiin lafa qottanu ilaala

⁶ Yoo nami nageya jaalatu achi jiraate, nageenni keessan nama saniif te'uu ti; yoo hin jiraanne, nageenni keessan isinii deebi'a.

⁷ Manuma san keessa tura'a; hojjataa tokkoof mindaan barbaachisaa waan te'eef, waan isaan isiniif kennanu maraa nyaadha'aa una'a. Manaa gara manaa hin labina'a!

⁸ Yennaa gara qachaa tokkoo seentanee isin fudhatane maraa, waan isiniif kennanu sooradha'a;

⁹ qachaa san keessatti dhibamaa fayyisa'a; kolbaa achi jirtulle'een, «Mootummaan Waaqaa isinitti dhikaateerti» jedha'a.

¹⁰ Ammoo yennaa gara qachaa tokkoo seentanee isin fudhatiisa dhabane mara, kara'atti baya'aatii,

¹¹ isaaniin «Bukuu qachaa keessanii ka miila keennatti qabattelle ifi irraa hin haxowanna; ammoo mootummaan Waaqaa akka dhikaatte beeka'a!» jedha'a.

¹² Ani isinitti hima, guyyaa mura'aa worra qachaa saniitiin irra worra Sodoomiitiif kaso'o» jedhe.

Qachoota Hin Dhugeeffanne

(Mat. 11:20-24)

¹³ Yesuus ede'ee, «Aannee si'iif, Koraaziin! Aannee si'iif, Betsayida'a! Bilbaasi Waaqaa ka si keessatti godhame, adoo Xiirrosii fi Sidoonaa keessatti godhamee jiraatee, silaa kolbaan uffana gaddaa uffattee, daadhaa keessa teetee duruu araara galteertiyyu.

¹⁴ Guyyaa mura'aa isin caalaa Xiirrosii fi Sidooniif kasoo teeti.

¹⁵ Qifirnaahoom ati haga ol-gubba'aa ifi ol qabuu barbaaddaa? Maarre gara boolla qile'ee gad gatanta.

¹⁶ «Ka isin dhage'u na dhage'a; ka isin didu na dida; ka ana didu ka ana erge dida» jedhe.

Worri Torbaatamii Lamaan Addee Dhaqanee Deebi'ane

¹⁷ Worri torbaatamii lamaan gammada gudda'aan deebi'ane dhufanee, «Gootaa, yennaa nuuti maqaa keetiin ajajne durriisotille nu'uuf ajajamane» jedhaneen.

¹⁸ Yesuus deebisee, «Seexanni akka balaqqeetti'ii ol-gubba'aa bu'uun dhagge.

¹⁹ Ani akka isin dhudhuufa'aa fi makka* irra ideentanu, hunna diinotaa maralle akka injifattanu baallii isiniif kenneera; womaa isin hin miidhu.

²⁰ Te'uu malee, maqaan keessan ol-gubba'atti waan barreeffameef gammada'a malee, ayyaanni hamaan waan isiniif ajajameef hin gammadina'a» isaaniin jedhe.

Yesuus Gammade

(Mat. 11:25-27; 13:16,17)

²¹ Yennuma sanitti, Yesuus gammada Ayyaana Woyyichaatiin guutamee, «Abbaa kiyya, Gootaa ol-gubba'aatii fi lafaa! Waan kana worra qaroole'ee fi beettota dhossitee worra wo hin beenneef† waan mudhitteef si galateeffadha. Ee, Abbaa, wonni sun akka teetuuf waan ati itti gammadde.

²² «Abbaan kiyya waan mara dabarsee natti kenneera. Abbaa isaa qofattuu beeka malee, ilmi eennu akka te'e ka beeku hin jiru; Ilma isaatii fi worra Ilmi isaa itti mudhisuu barbaadettuu abbaa beeka malee, abbaan eennu akka te'e ka beeku hin jiru» jedhe.

* **10:19 Makka:** Gaadduu, qaajjibbuu † **10:21 Worra wo hin beenneef:** Ijoolle'eef **10:22 Yoh. 3:35; 10:15**

²³ Achiin duuba gara barattoota ifii garagalee qofii isaaniititti, «Ilti waan isin dhaggitanu dhaggitu ta eebbifante.

²⁴ Raagotaa fi moototi hedduun waan isin dhaggitane dhaggiisaaf, waan isin dhageettane dhage'iisaaf halchanee, ammoo akka hin dhaggin yookiin hin dhage'in isinitti hima» jedheen.

Mammaassa Namicha Samaariya'aa

²⁵ Beekaan seera Muuse'ee tokko Yesuus waan jedhu ilaaliisaaf ol ka'ee, «Barsiisa'a, jiruu bara baraa dhaggatiisaaf maan godhuu na barbaachisa?» jedhe.

²⁶ Yesuus deebisee, «Seera Muuse'ee keessatti maanti barreeffameera? Attamitti dubbittee hiitta?» jedhe.

²⁷ Namichille, «Goottaa Waaqa keeti gadhaa keeti tokkochaan, lubbuu teeti takkatti'iin, hunna teeti takkatti'iin, qalbii teeti takkatti'iin jaaladhu; akkuma ifi jaalattu ollaa keetille jaaladhu» jedhe.

²⁸ Yesuus, «Sirri'itti deebiteerta; yoo tana goote jiruu bara baraa hin dhag-gatta» jedhe.

²⁹ Beekkichi Seera Muuse'ee ammoo akka waan nama balchaa te'ee ifi mudhisiisa barbaadee, «Ollaan kiyya kam inni?» jedhee gaafate.

³⁰ Yesuus deebisee, «Nami tokko Yerusaalemii gara Yeriko'oo adoo gad deemuu worri nama saamu isa lolee, waan inni qabu mara irraa mulqee, dikee, lubbuu qofa keessatti lakkisee biraa deeme.

³¹ Hayyuun tokko karaa san adoo dabaru, yennaa namicha dhagge ammoo, irraa goree dabare.

³² Nami gosa Lewwi'ii tokkolle karuma san achi dhufee, yennaa namicha dhagge, irraa goree dabare.

³³ Nami Samaariya'aa tokko ammoo, ka karaa san deemu irra dhufee, yennaa isa dhagge nayeef.

³⁴ Itti hiiqee, madaa isaatitti zayiti'ii fi daadhii woyni'ii nagee hidheef; achiin duuba geejjiba ifii gubbaa teessisee, gara mana keessummaan bultuu isa geessee, achitti qarqaare.

³⁵ Guyyaa itti aanu dinaara lama fuudhee namicha mana keessummaa'aa eegutti kennee, «Ittiin qarqaar; yennaa karaa kana deebi'u, kana caalaalle yoo baatteef, si'iif hin kenna» jedheen» jedhe.

³⁶ Achiin duuba Yesuus, «Jara sadiin kana keessaa, akka ollaa tokkootitti namicha jara nama saantu afaan bu'e san ka qarqaare kam sitti fakkaata?» jedheen.

³⁷ Beekaan Seera Muuse'ee, «Ka marareef» jedhee deebise.

Yesuus isaan, «Atille dhaqii, akkasuma tolchi» jedhe.

Yesuus Mana Maarta'aatii Fi Maariyaamiititti

³⁸ Yesuus barattoota ifii woliin ideemaatuma gara ollaa tokkoo yennaa dhufe, dubartiin Maartaa jedhantu takka mana ifititti isa fudhate.

³⁹ Isiin obboleettii Maariyaam jedhantu takka qaddi; Maariyaamiin sun miila Yesuusii jala teettee dubbii isaa caqasiisatti jirtiyyu.

⁴⁰ Maartaan ammoo hujiin mana keessaa waan itti heddatteef, gara isaa dhuttee, «Gootta'a, obboleettiin tiyya akka ani callaan hujuuf yennaa isiin qofuu na lakkittu cadhittee ilaalta? Akka isiin dhuttee na gargaartuuf itti himi» jette.

⁴¹ Gootaan deebisee «Maarta'a, Maarta'a! Ati waan hedduu yaadaa rakkata,

⁴² ka barbaachisu ammoo waan tokkocha calla'a. Maariyaamiin waan dansaa filatteerti, isii irralle'ee hin fudhatamu» isi'iin jedhe.

11

Yesuus Marroo Daadimataa Barsiise (Mat. 6:9-13; 7:7-11)

¹ Gaafa tokko Yesuus addee takkatti daadimatiisatti jiraayyu; yennaa inni daadimatee ka'e, barattoota isaa keessaa tokkochi isaan, «Gootta'a, Yohaannis barattoota ifii daadimatiisa akkuma barsiise, atille daadimatiisa nu barsiisi» jedhe.

² Yesuus isaaniin, «Yennaa daadimattanu tana jedha'a:
«Abbaa keenna, [ka ol-gubbaa jirtu]
Maqaan keeti woyyoomu;
Mootummaan teeti dhuttu.
[Fedhiin teeti akkuma ol-gubba'atti teete,
lafa irralle'etti teetuu.]

³ Sagalee nuu barbaachittu
guyyuma guyya'aan nuu kenni.

⁴ Akkuma nuuti worra nu yakkuuf araarannu,
cubbuu teenna nuu araarami;
[hantuu irraa nu eegi malee],
ataabe'etti nu hin galchin!» jedha'a» jedhe*.

⁵ Achiin duuba Yesuus ede'ee «Isin keessaa nami tokko lansa yoo qabaate, halkan wodhakkaa gara lansa ifii dhaqee «Lansa kiyya, daabboo xaltaa sadnaa liqeessi.

⁶ Lansi kiyya karaa deemaa ammuma tana natti goree waan itti kennu dhabeera» yoo jedheen,

⁷ lansi isaa sun mana keessa tee'ee, isaan «Ana hin rakkisin! Balbalti cufantee, ijoolleen tiyyalle na woliin tagee irra ratteerti. Ani ka'ee womaa si'iif kenniisa hin dande'u» hin jedhaa?

⁸ Ani isinitti hima, lansa isaa waan te'eef ka'ee womaa isaaf kennuu dhabulle, adoo hin fukkifatin itti deddeebisee waan isa kadhateef, ka'ee waan isaa barbaachisu mara hin kenna.

⁹ «Maarre ani isiniin jedha: gaafadha'a isiniif hin kennanti; barbaada'a hin dhaggattani; dhodhowa'a balbalti isiniif hin bananti.

¹⁰ Ka gaafatu maraa hin fudhata; ka barbaadu maraa hin dhaggata; ka dhodhowu maraaf balbalti hin bananti.

¹¹ Isin keessaa abbaa ka te'e, ilmi isaa [daabboo yoo gaafate dhakaa ka kennuuf eennu?][†] Qurxummii yoo gaafate dhudhuufaa ka kennuuf eennu?

¹² Yookiin yoo inni quuphaa gaafate qaajjibbuu hin kennaafii?

¹³ Isin adoo hamoota teetanuu, waan dansaa ijoollee teessaniif kenniisa yoo beettane, Abbaan keessan ka ol-gubbaa jiru, attam caalchisee worra isa gaafatuuf Ayyaana Woyyicha kennuu dhaba!» jedhe.

Yesuusii Fi Bi'el Zebul (Mat. 12:22-30; Mar. 3:20-27)

¹⁴ Yesuus durriisa duudaa tokko baase. Yennaa durriisi baye, namichi dubbatiisa jalqabe; namootille baaseffatane.

¹⁵ Namooti gariin ammoo, «Inni hunna Bi'el Zebulii mooticha durriiso-taatiin durriisota baasa» jedhane.

* **11:4** Woraabbiin durii gariin, hima yookiin yaada laakkossa 2-4 keessatti dalleya keessa jiru mara hin qabu † **11:11** Woraabbiin gariin yaada dalleya keessa jiru kana hin qabu

¹⁶ Worri dhibiin Yesuus haga ilaaliisaaf barbaadanee, beessisa tokko ol-gubbaa irraa akka isaanitti mudhisu gaafatan.

¹⁷ Yesuus ammoo waan isaan yaadatane beekke, isaaniin, «Mootummaan takka wol mormitee yoo gargar ifi qoodde, mootummaan sun hin baddi; maatiin takka yoo gargar ifi qoodde, manni sun hin diigama.

¹⁸ Maarre Seexanni wol mormee yoo gargar ifi qoode, mootummaan isaa attamiin dhaabbatuu dandeetti? Waan isin anaan, «Inni hunna Bi'el Zebuliitiin durriisota baasa» jettaneef tana jedhe.

¹⁹ Yoo ani hunna Bi'el Zebuliitiin isaan baase, ijoolleen[‡] teessan eennuun baasan? Tanaaf ijoolleen teessanuu isinitti murti.

²⁰ Yoo ani hunna Waaqaatiin durriisota ka baasu te'ee, akka mootummaan Waaqaa gara keessan dhutteertu beeka'a.

²¹ «Nami jabaan tokko, meya woraanaa mara hidhatee, mana ifi yennaa eeggatu, qabeenni isaa marti hin eegamaaf.

²² Ammoo ka isa caalaa jabaatu yennaa isa lolee injifate, meya lolaa ka inni addatu maraayyuu irraa fudhata, karra dannabe sanille hin qooda.

²³ Eennulle ka golii tiyya hin te'in na morma; eennulle ka na woliin wolitti hin qanne hin bittinneessa.

Bayee Deebi'iisa Ayyaana Hama'aa

(Mat. 12:43-45)

²⁴ «Ayyaanni hamaan nama keessaa yennaa bawu, addee itti foorfatu barbaadatiisaaf, lafa bisaan hin jirre keessa deddeebi'a; addee barbaadatee yoo dhagguu dhabe, «Mana kiyya ka keessaa bayetti deebi'a» jedha.

²⁵ Yennaa deebi'u, manni haxowamee qulqulloweeruun dhagga.

²⁶ Achiin duuba ayyaanota hamoota torba ka isa caalaa hamaa te'ane dhagee fida; isaanille dhufanee achi le'an. Jireenni namichaa ka duubaa ka duraa caalaa ka hammaate te'a» jedhe.

Eebba Dhuga'aa

²⁷ Yesuus adoo tana dubbatiisatti jiruu, gumii keessaa dubartiin takka qoonqoo ol qabatee, «Gadaamessi si ba'atee fi harmi ati hoote[§] ka badhaad-hane» jette.

²⁸ Inni ammoo deebisee, «Worri jecha Waaqaa dhage'ee ajajamuuf caalaa ka badhaadhe!» jedhe.

Kolbaan Beessisa Gaafatte

(Mat. 12:38-42; Mar. 8:12)

²⁹ Kolbaan hedduun gara isaa dachaateertuun, Yesuus, «Dhalooti kun dhaloota hama'a; isaan beessisa gaafatan, ammoo beessisa Yoonaasii raagichaa malee ka dhibiin tokkolle hin kennamuuf.

³⁰ Raagichi Yoonaas kolbaa Nanawwe'eetiif beessisa akka te'e ilmi na-maalle dhaloota adhaa kanaaf beessisa hin te'a.

³¹ Mootittiin kibbaa guyyaa mura'aa dhaloota adhaa kana woliin kaatee, isaanitti hin murti. Isiin qaccee biyya lafaatii qaru Solomoonii caqasiisaaf dhutte; amma kunoo ka Solomoon caalu as jira.

³² Kolbaan qachaa Nanawwe'ee guyyaa mura'aa dhaloota kana woliin kaatee isinitti hin murti; kolbaan Nanawwe'ee lallaba Yoonaasii dhageettee cubbuu irraa deebiteerti. Kunoo ka Yoonaas caalu as jira.

Ifa Nafaa

(Mat. 5:15; 6:22-23)

11:16 Mat. 12:38; 16:1; Mar. 8:11 [‡] **11:19** *Ijoolleen*: Hordofattooti **§** **11:27** *Gadaamessi si ba'atee fi harmi ati hoote*: Haati si deettee hoositte

³³ «Eennulle ifa issee, addee hin mudhannetti yookiin qorii jala ka keyu hin jiru; namooti yennaa mana seenanu akka dhagganu addee mudhatu keya.

³⁴ Ilti teeti ifa nafa keetii ti; ilti teeti fayyaa yoo teete, nafi keeti duudiin ifaa te'a; ammoo ilti teeti dhukkudduu yoo teete nafi keeti duudiin dukkanowaa te'a.

³⁵ Tanaaf ifi si keessa jiru akka hin dukkanoonne ifi eegadhu.

³⁶ Nafi keeti duudiin ifa yoo qabaate, maddiin takkaalle dukkana keessa yoo hin jiraatin, akkuma yennaa ifi ifa ifii sitti issu te'u, nafi keeti duudiin ifaaleessa te'a» jedhe.

Yesuus, Fariisaayotaa Fi Barsiisota Seera Muuse'ee Komate

³⁷ Yesuus yennaa dubbatee ka'e, Fariisaayichi tokko sagalee nyaatiisaaf gara mana ifii isa waame; maarre inni nyaatiisaaf gara mana isaa dhaqee tee'e.

³⁸ Fariisaayichi sun Yesuus adoo harka hin dhiqatin nyaataaf akka tee'e yennaa dhagge maalalfate.

³⁹ Maarre Gootaan isaan, «Isin Fariisaayoti muduunuu itti untanuu fi qorii itti nyaatanu gubbaa qulleessitan, keessi keessan ammoo joljolumma'aa fi hammeennaan guutameera.

⁴⁰ Gowwoole'e! Waaqi gubbaa dade keessa hin dannee?

⁴¹ Ammoo waan muduunu'uu fi qorii keessa jiru hiyyeeyyi'iif kenna'a, wonni duudiille isiniif hin qulqulloonti.

⁴² «Isin Fariisaayotaaf aanne'e! Isin ashuuda'aa fi sugattee* irraa, akka-suma waan ficha'atti dhaabattane duudii irraa kudhan keessaa tokko Waaqaaf kennitan, dhuga'aa fi jaalala waaqaa ammoo hin lakkittan. San adoo gootanu tanalle worra dhibi'iif godhiisa lakkisuu hin malle.

⁴³ Isin Fariisaayotaaf aanne'e! Isin Mana Waaqonfannaa Yihudootaa keessatti barcumaa ulfinnaa, addee dikko'ootille'etti nageya ulfinnaa akka isin fuudhanu jaalattan.

⁴⁴ Isin irreensa† beessisa hin qanne ka namooti adoo hin beekin irra deemanu waan fakkaattanuu fi isiniif aanne'e!» jedhe.

⁴⁵ Beekaan Seera Muuse'ee tokko, «Barsiisaa, ati yennaa tana dubbattu be nu'ulle arrassaarta» jedheen.

⁴⁶ Yesuus deebisee, «Isin beekkolee Seera Muuse'eetiif aanne'e! Isin ba'aa ulfaattuu dudda kolba'aatitti feetan, ifii ammoo quballe'een hin tuxxanu.

⁴⁷ Isin raagota abbootiin teessan iijeetteef irreensa waan ijaartanuuf, isiniif aanne'e!

⁴⁸ Isin waan abbootiin teessan hujjetti wolii galtane; isaan raagota ijeesane, isin irreensa isaanii ijaartanee mirkaneessitane.

⁴⁹ Marroo tanaaf beekkumsi Waaqaa, «Ani raagotaa fi ergantoota isaanitti erga; isaan garii hin ijeesan kaan hin ari'an» jedha.

⁵⁰ Maarre haga latti dadanteen jalqabee dhiiga raagota maraa ka jigeef dhalooti kun hin gaafatama.

⁵¹ Dhiiga Abeeliitiin jalqabee haga dhiiga Zakaariyaasii wodhakkaa addee ciinca'aatii fi Galma Waaqaatitti ijeesane, ani dhugumaan isinitti hima, dhiiga isaan maraatiif dhalooti kun hin gaafatama.

⁵² Isin beekkoleen Seera Muuse'ee, furtuu balbala beekkumsaa kolbaa duraa waan fuutaneertanuuf, isiniif aanne'e! Isin ifiif hin seenne, worra seeniisaaf barbaadulle hin dhooggitan» jedhe.

⁵³ Yesuus yennaa achii deeme, barsiisoti Seera Muuse'eetii fi Fariisaayoti guddoo moromane, gaaffii marroo waan heddu'uu isa gaafatane,

* 11:42 Sugattee: Sukuttee † 11:44 Irreensa: Irreensa

⁵⁴ dubbii inni dubbatuun isa qabiisaaf gaadane.

12

Kijiba Irraa If Eeggachiise (Mat. 10:26-27)

¹ Yennaa san gumiin kuma heddu'utti laakkowantu haga wol irra i'ijjattutti yennaa wolitti qabante, Yesuus dursee barattoota ifitiin, «Uukoo worra Fariisaayotaa, jechuun kijiba isaanii irraa ifi eegadha'a.

² Wonni gollaa jiru maraa hin mudhata, wonni dhossaa jiru maraa hin beekkama.

³ Tanaaf wonni isin dukkana keessatti dubbattane, ifa guyya'aatitti bayee hin dhage'ama, wonni isin diingaa cufamaa keessatti qofuu haasottane guutuu manaa irratti hin lallabama» jedhe.

Ka Sodaatamu'uuf Male (Mat. 10:28-31)

⁴ «Jaalota tiyya, ani isinitti hima; worra isin* ijjeesee ammoo waan badduu dhibii tana caalaa hujuu hin dandeenne hin sodaatina'a.

⁵ Ani ka sodaatiisaa maltane isinitti mudhisa: Ka ijjeeseen duuba, ibidda bara baraatitti gatiisaaf baallii qabu, Waaqa sodaadha'a. Ee, ani isinitti hima isa callaa sodaadha'a!

⁶ «Sinbirrooti didiqqoon shanan saantimii lamaanitti† gurgurantii motii? Te'uu malee isaan san keessaa takkattiin Waaqa duratti dedhantee hin jirtu.

⁷ Rifeensi mataa keessaniituu maraa laakkowameera. Maarre hin sodaatina'a; isin sinbirroota didiqqoo san caalaa gatii guddoo qaddan.

Marroo Kiristoosii Dhugaa Bayiisa (Mat. 10:32-33; 10:19-20)

⁸ «Ani isinitti hima, eennulle nama dhibii duratti ka naaf dhugaa bayu, Ilmi Namaalle ergantoota Waaqaa duratti akkasuma isaaf dhugaa baya.

⁹ Ammoo nama duratti ka na mormatu, ergantoota Waaqaa duratti hin mormatama.

¹⁰ Eennulle Ilma Namaa mormee dubbii ka dubbatu araara hin dhaggata; ammoo eennulle Ayyaana Woyyicha mormee ka faanshessu araara hin dhaggatu.

¹¹ «Yennaa isaan Mana Waaqonfannaa Yihudootaatitti, bulchitoota fi worra baallii qabu duratti, murti'iif isin geessane, attam akka falmattanuu yookiin maan akka dubbattanuu hin yaadina'a.

¹² Yennuma san Ayyaanni Woyyichi waan isin dubbatu'uuf maltane isin barsiisa» jedhe.

Gowwummaa Namicha Dureessaa Tokkoo

¹³ Gumii keessaa nami tokko, Yesuusiin, «Barsiisa'a, dhaala abbaa keennaa, akka naaf qoodu obboleessa kiyyatti himi» jedheen.

¹⁴ Yesuus deebisee, «Jaali, akka ani isin irratti abbaa mura'aa yookiin qoodduu dhaalaa te'u eentu na fowe?» jedhe.

¹⁵ Itti aansee inni isaan maraanuu, «Jireenni namaa baceenna karraatiinii moti; tanaaf ilaalladha'a, joljolummaa maraa irraa ifi eegadha'a» jedhe.

¹⁶ Achiin duuba Yesuus isaanitti mammaakee, «Namichi dureessi ka fichaa midhaan hedduu baase qabu tokko jira.

¹⁷ Inni «Addee midhaan kiyya kana mara itti galchu hin qabu. Maan godha?» jedhee yaadate.

* **12:4** Isin: Foon yookiin nafa † **12:6** Saantimii lamatti: Saantimii kudhanitti **12:10** Mat. 12:32; Mar. 3:29

18 «Akkana godha» ifiin jedhe; «Gootaraa kiyya maraa diigee ka dhibii gugurdaa ijaara, achitti midhaan kiyyaa fi meya kiyya ka dhibii maralle galfadha.

19 Achiin duuba ani ifiin, Waan dansaa woggaa heddu'uuf sii barbaachisu mara hin qadda; foorfadhu, nyaadhu, uni, ifi gammachiisi!» jedha.

20 Waaqi ammoo isaan, «Ati gowwa'a! Edanuma tana lubbuun teeti fudhatanti; waan ati ifiif kuufatteertu kana mara eentu fudhata?» jedhe.

21 «Nami lafa tana irratti ifiif karra kuufatu, Waaqa duratti ammoo ka dureessa hin te'in akkasuma te'a» jedhe.

Waaqatti Addatiisa

(Mat. 6:25-34)

22 Yesuus barattoota ifitiin, «Maarre ani isinitti hima, jireenna keessaniif maan nyaanna yookiin nafa keessanitti maan uffanna jettanee hin yaadina'a.

23 Jireenni nyaata caalaa, nafi woyaa caalaa guddoo barbaachisa'a.

24 Me harraaqessoota ilaala'a: isaan midhaan hin facaasanu yookiin haamanee hin galchanu; addee midhaan itti galchanu yookiin gootaraa hin qabanu; Waaqi isaan nyaachisa. Isin guddoo sinbirroota caaltan!

25 Isin keessaa nami tokko haga fedhe itti yaadee le'ii ifi diqqumalle ka dheereffatuu dande'u eennu?

26 Yoo waan diqqoo akkanaa kanaayyuu dandeettanee hin goone, maaf marroo waan dhibi'itiif yaaddan ree?

27 Daraaroti attam akka guddatanu ilaala'a: Isaan hin hujatanu yookiin woyaa ifiif hin dhowatanu. Ammoo ani isinitti hima, Solomooniin mootichinuu ulfinna ifi maraan woyaa akka daraarota sanii dansittii hin uffanne.

28 Waaqi marra adha mudhatee, boru ibiddatti gatamu yoo akkas seese itti uffise, isin fa'a attam caalchisee uffisuu dhaba. E, isin worra dhugeeffannaa diqqo'oo!

29 «Tanaaf «Maan nyaanna? Maan unna?» jedhaa yaadaan hin rakkatina'a.

30 Kolbaan lafa tanaalle waan kana dhaggatiisaaf itti yaadaa rakkatti. Tun marti akka isinii barbaachittu Abbaan keessan ka ol-gubba'aa hin beeka.

31 Addee tanaa, mootummaa Waaqaa barbaada'a, tun marti isiniif hin dabalanti.

Durummaa Ol-gubba'aa

(Mat. 6:19-21)

32 «Gumii diqqo'o, Abbaan keessan mootummaa ifi isinii kenniisaaf waan jaalateeruuf, hin sodaatina'a.

33 Waan qaddanu mara gurgura'aatii beese worra hiyyeeyyi'iif kenna'a. Subba beese'ee ka hin dulloonne qopheeffadha'aatii beese teessan addee hattuun hin dhaqqannee fi biliin hin balleessine ol-gubba'atti maffadha'a.

34 Addee beeseen teessan jirtu gadhaan keessanille hin jiraata» jedhe.

Tajaajiltoota Dammaxxuu

(Mat. 24:45-51)

35 Yesuus itti aansee, «Huji'iif hidhadha'aatii qophowa'a, ifa keessanille iffadha'a!

36 Tajaajiltoota goottaan isaanii jila fuudhaatii deebi'u eegatanu fakkaadha'a. Yennaa inni dhufee balbala dhodhowe, isaan yoosuma hin banan.

³⁷ Tajaajiltooti goottaan isaanii yennaa deebi'u dammaqaneeranuun dhaggu, ka eebbifamane. Ani dhugumaan isiniin jedha, inni woyaa ifi caccaffatee, addee nyaataa isaan teessisee hin areera.

³⁸ Halkan wodhakkaa yookiin fuullee bari'ii yoo dhufelle, worri qophowa-neeranuun inni dhaggu ka eebbifamane!

³⁹ Ammoo tana beeka'a: abbaan manaa saatii hattuun itti dhuttu adoo beekke, hattuun mana isaa cassitee akka seentuuf hin lakkisu.

⁴⁰ Ilmi Namaalle saatii isin isa hin eennetti waan dhufuuf, isinille qophowa'aatii eegadha'a!» jedhe.

Tajaajilaa Addatamaa Yookiin Ka Hin Addatanne
(Mat. 24:45-51)

⁴¹ Pheexroos, «Goota'a, mammaassa kana nu'uuf dubbatta moo yookiin nama maraafuu?» jedhee gaafate.

⁴² Gootaan deebisee, «Tajaajilaan addatama'aa fi qaroon, ka goottaan isaa akka inni maatii isaa sirri'itti bulchuu fi tajaajiltoota isaatiif sagalee yenna'aan akka kennuuf itti gaafatamummaa kennu kam ree?

⁴³ Tajaajilaan goottaan isaa yennaa deebi'ee dhufu akkanuma hojjatiisatti jiruun dhaggu sun ka eebbifame!

⁴⁴ Dhugumaan isiniin jedha, goottaan tajaajilaa san karra ifii mara irratti itti gaafatamaa hin godha.

⁴⁵ Ammoo tajaajilaan sun, «Gootaan kiyya dafee hin dhufu hin tura» jedhee yaadatee, nyaataa unaa, machowaa tajaajiltoota dhiiraatii fi dubarti'ii dhaaniisatti yoo ka'e,

⁴⁶ goottaan isaa guyyaa inni hin eennee fi saatii inni hin beennetti deebi'ee hin dhufa, isa hin ciccira, qooda isaalle worra hin dhugeeffanne woliin godha.

⁴⁷ «Fedhii gootaa ifii adoo beekuu tajaajilaan hin qopheeffanne, yookiin ajaja gootaa ifii hin muummessine akka malee hin dhaanama.

⁴⁸ Ammoo tajaajilaan fedhii gootaa ifii beekuu dhabiisaan, waan isa dhaansisu yoo huje, diqquma dhaanama. Nama wonni guddoon itti kennante irraa waan guddo'otti barbaadama; nama maganneen guddoon itti kennante irraa ka caalu hin barbaadama» jedhe.

Namooti Sababa Yesuusiitiif Gargar Bayane
(Mat. 10:34-36)

⁴⁹ «Ani ibidda lafatti buusiisaaf dhufe, adoo duruu bobeeffamee jiraate ani attam halchaayyu!

⁵⁰ Ani cuuphama cuuphamaaru tokko qaba, haga inni muummowutti ani attam rakkadha!

⁵¹ Biyya lafaatiif nageya buusiisaaf waan dhufe na seetanii? Waawwoo, gargar bayiisa malee nageyaa moti.

⁵² Ammaa jalqabane maatiin mana tokkoo shanan, sadiin lamaaniin wol mormanee lamaan sadiiniin wol mormanee gargar hin bayan.

⁵³ Abbootiin ijoollee ifii, ijoolleen abbootii ifii, haati intala ifii, intaltille haadha ifii, haati sodda'aa niitii ilma isi'ii, niitiin ilma isi'ii haadha sodda'aa woliin mormanee gargar bayan» jedhe.

Yennaa Beekiisa
(Mat. 16:2-3; 5:25-26)

⁵⁴ Yesuus kolba'aan, «Isin yennaa duumensi karaa aduun seentuun dhufe, yennuma san bokkeenni roobaara jettan; hin rooballe'e.

⁵⁵ Yennaa qilleensi gara gadii‡ dhowu dhaggitanu, o'i dhufaara jettan; akkasuma te'a.

⁵⁶ Isin kijiboole'e! Waan lafaatii fi duumensaa ilaaltanee himuu hin dandeettan; maaf waan bara kanaa hin beekin ree?

Mormitoota Teessaniin Wolii Gala'a
(Mat. 5:25-26)

⁵⁷ «Isin waan dhugaa te'e ifumaa maaf hin murre?

⁵⁸ Nami tokko si himatee gara abbaa seeraa si geessiisaaf yoo ka'e, adoo abbaa seeraa dura hin geyin kara'attuu isa woliin wolii galiisaaf wodhaan. Yoo hin wodhaanin gara abbaa seeraa harkisee si geessa, abbaan seeraalle bulchaa mana hidha'aatitti dabarsee si hin kenna, innille gara mana hidha'aa si galcha.

⁵⁹ Ani sitti hima, saantimiin cadduulle adoo hin hafin haga kaffaltutti ijumaa hin baatu» jedhe.

13

Cubbuu Irraa Ka Hin Deebine Hin Bada

¹ Yennaa san namooti gariin gara Yesuusii dhufanee, marroo worra Galiila'aa ka adoo Waaqaaf woreega woreegiisatti jiranuu, Philaaxoos ijjeesisee dhiiga isaanii woreega isaanii woliin makee itti himane.

² Yesuus deebisee, «Worri Galiila'aa kun, worra Galiila'aa kaan mara caalaa cubbaaleyyii waan te'aneef akkas rakkatane isinitti fakkaataa?

³ Waawwoo! Ani isinitti hima, isin martinuu yoo cubbuu teessan irraa deebi'uu dhaddane, akkuma isaanii hin baddan.

⁴ Yookiin worri kudhanii saddeeti ka Siilo'amitti xelleephon dhaka'aa dheertuun itti jiddee fixxe, worra Yerusaalem keessa le'u mara caalaa yakkaameyyii isinitti fakkaataa?

⁵ Waawwo'o! Ani isinitti hima; isinille cubbuu teessan irraa yoo deebitane malee, isin martinuu akkuma isaanii hin baddan» isaaniin jedhe.

Mammaassa Muka Harru'uu Ka Midhaan Hin Buunnee

⁶ Achiin duuba Yesuus mammaassa kana isaanitti mammaakee, «Namichi fichaa ifii keessatti muka harru'uu dhaabbateeru tokko jira. Inni midhaan isii irraa barbaadatiisaaf dhagee womaa irraa dhabe.

⁷ Maarre inni namicha fichaa isaa hujuun, «Ilaa, ani muka harru'uu kana irraa midhaan barbaadatiisaaf woggaa sad dhufeera; ammoo haga ammaa womaa irraa hin dhagganee. Isii muri, maaf lafa balleessiti?» jedhe.

⁸ Namichi sun ammoo deebisee, «Gootta'a, me woggaa tanaaf lakkis; jala qotee kosii jalatti naqa.

⁹ Bara dhufu midhaan yoo buutte dansa'a! Ammoo yoo buusuu dhadde hin murta!» jedheen» jedhe.

Yesuus Guyyaa Sanbataa Dubartii Gugguutte Fayyise

¹⁰ Yesuus Guyyaa Sanbataa Mana Waaqonfannaa Yihudootaa keessatti barsiisiisatti jiraayyu.

¹¹ Dubartiin woggaa kudhanii saddeeti ayyaanni hamaan gugguussiseeru takkalle achi jirtiyyu. Isiin akka malee gugguuttee qajeeltee dhaabbatuu hin dandeenne.

¹² Yesuus yennaa isii dhagge gara ifii isii waamee, «Dubarti'i, ati dhibee teeti irraa fayyiteerta» jedhe.

¹³ Harka ifille isii irra keyee, isiin yennuma san qajeeltee dhaabbattee Waaqa galateeffatte.

‡ 12:55 Gara gadii: Kibbaa

¹⁴ Sooressi mana Waaqonfannaa Yihudootaa waan Yesuus guyyaa Sanbataatiin fayyiseef aaree, kolba'aan, «Guyyooti huji'ii jaan jiran. Maarre guyyoota san kowa'aatii fayyifama'a malee, guyyaa Sanbataatiinii moti» jedhe.

¹⁵ Gootaan deebisee, «Isin kijiboole'e, isin keessaa guyyaa Sanbataatiin qotiyyoo yookiin harree addee hidha'aatii hiikee geessee ka bisaan hin obaanne eennu?»

¹⁶ Amma dubartiin sanyii Abrahaamii teetu tun, ta woggaa kudhanii saddeeti Seexanaan hidhantee turte, guyyaa Sanbataatiin hiikamu'uu hin mallee ree?» jedheen.

¹⁷ Dubbii tana yennaa inni dubbate, worri isa mormu mara qaanowe; kolbaan ammoo kancira inni huje maratti gammadde.

Mammaassa Midhaan Sanaafici'ii

(Mat. 13:31-33; Mar. 4:30-32)

¹⁸ Achiin duuba Yesuus «Mootummaan Waaqaa maan fakkaatti? Maaniin isii wol fakkeessina?» jedhee gaafate.

¹⁹ Isiin akka sanyii sanaafici'ii ta nami tokko fuudhee fichaa ifii keessatti dhaabeen guddattee muka guddaa teetee, sinbirreen dhuttee dameelee isi'ii irratti mana ijaarrattuu fakkaatti» jedhe.

Mammaassa Uuko'oo

(Mat. 13:33)

²⁰ Yesuus ammalle, «Mootummaa Waaqaa maaniin wol fakkeessa?

²¹ Isiin akka uukoo dubartiin takka fuutee bullaa guddoon* mattee, uukoon sun isii mara bukeessituu fakkaatti» jedhe.

Balbala Dhiphoo

(Mat. 7:13-14,21-23)

²² Yesuus gara Yerusaalemii adoo dhaquu, qachootaa fi olloota keessatti kolbaa barsiisaa dabare.

²³ Nami tokko, «Goota'a, ka fayyu kolbaa diqqo'oo?» jedhee gaafate.

²⁴ Yesuus deebisee, «Balbala dhipho'oon seeniisaaf mixiixxadha'a; ani isinitti hima; namooti hedduun seeniisaaf wodhaanan; ammoo hin dande'anu.

²⁵ Abbaan manaa ka'ee balbala cufeen duuba, isin ala dhaabbatanee balbala dhodhowaa, «Gootaa keenna balbala nu'uuf bani!» jettanee hin waantan; inni ammoo deebisee, «Isin eessaa akka dhuttane ani hin beeku» isiniin jedha.

²⁶ «Achiin duuba isin deebittanee, «Si woliin nyaannee unneerra; karaa keenna irralle'etti barsiitteerta» jettan.

²⁷ Inni ammoo, «Eessaa akka isin dhuttane ani hin beeku; isin dabaaleyyiin martinuu ila tiyya duraa deema'a!» jedha.

²⁸ Mootummaa Waaqaa keessatti, Abrahaam, Yisihaq, Yaaqoobii fi raagota mara dhaggitanee, isin alatti yennaa gatantane, achitti bowaa ilkaan qartan.

²⁹ Kolbaan gara aduun baatuu fi aduun seentuun, olii fi gadiin dhuttee mootummaa Waaqaa keessa teettee hin nyaatti.

³⁰ Worri amma duuba jiru, worra duraa hin te'a; worri amma dura jiru worra duubaa hin te'a» jedhe.

Heroodis Yesuus Ijjeesiisaaf Barbaade

* **13:21** Bullaa guddoon: Kitaab Afaan Giriikii waan ittiin safaranu sadiin jedha **13:28** Mat. 22:13; 25:30

³¹ Yennaa san worra Fariisaayotaa keessaa namooti gariin gara Yesuusii dhufanee, «Heroodis waan si ijjeesiisaaf barbaaduuf asii deemi, addee dhibii dhaqi!» jedhaneen.

³² Yesuus deebisee, «Dhaqa'aatii jeedala† saniin, Ani adhaa fi boru durriisota hin baasa, worra dhibamaalle hin fayyisa, guyyaa sadeesso'ootitti hujii tiyya hin hobbaasa.

³³ Te'uu malee, ani adhaa fi boru, ittaanille garuma duraa deemuu male; sababille raagaan tokko Yersaaleem keessatti malee, addee dhibi'itti ijjeefamu hin malle» isaaniin jedhe.

Yesuus Yersaalemiif Gadde

(Mat. 23:37-39)

³⁴ «E! Yersaaleem, Yersaaleem! Ati raagota ka ijeettu, ergantoota gara keeti ergante ka dhaka'aan tuntu! Akka lukkuun cuucotii ifi koola ifi jalatti wolitti qabattu, anille ijoollee teeti wolitti qabiisaaf yennaa meeqa barbaade, isin ammoo didattane.

³⁵ Ilaa, manni keessan ona hin te'a. Ani isinitti hima, «Ka maqaa Goota'aatiin dhufu, ka eebbifame» haga jettanutti deebitanee na hin dhag-gitanu» jedhe.

14

Yesuus Namicha Dhibameeru Tokko Fayyise

¹ Guyyaa Sanbataa tokko, Yesuus sagalee nyaatiisaaf, gara mana sooreyyii Fariisaayota keessaa tokkoo dhage; worri achi jiranu isa gaadiisatti jiraniyyu.

² Namichi nafi isaa iitoweeru tokko fuula isaa dura jiraayyu.

³ Yesuus, «Guyyaa Sanbataatiin fayyisuun seeraa moo seera moti?» jedhee barsiisota Seeraatii fi Fariisaayota gaafate.

⁴ Isaan ammoo cadhisane. Yesuus namicha qabee fayyisee galche.

⁵ Achiin duuba Yesuus isaaniin, «Isin keessaa nami tokko, ilmi isaa yookiin qotiyyoon isaa yoo boolla keessa bu'e, yennuma san guyyaa Sanbataatiin ka hin baanne eennu?» jedhe.

⁶ Isaan ammoo tanaafille deebii kennuu hin dandeenne.

Ifi Diqqeessiisaa Fi Keessummaa Fudhatiisa

⁷ Yesuus keessumooti addee ulfinnaa filattuun yennaa dhagge, itti mammaakee,

⁸ «Yennaa nami tokko gara jila fuudhaa fi heerumaa si waame, addee ulfinnaa hin tee'in, nami si caalu waamameera fa te'a.

⁹ Abbaan isin lamaanuu waame sun dhufee, «Addee tana namicha kanaaf lakkisi» yoo si'iin jedhe, qaanowaa addee namichaaf lakkittee, addee gadee dhaxxee hin teetta.

¹⁰ Ati ammoo yennaa waamante, abbaan si waame sun dhufee, «Jaala kiyya, as addee tanatti ol dabar» akka si'iin jedhuuf, dhaqiitii addee gadee tee'i. Yennaa san worra waamame san mara duratti ulfinna hin dhaggatta.

¹¹ Nami ifi guddisu maraa hin diqqaata, nami ifi diqqeessu maraa hin guddata» jedhe.

¹² Achiin duuba Yesuus namicha isa keessummeessu'uuf waameen, «Sagalee guyyaa yookiin sagalee galgalaa yennaa gootu, jaalolee teeti yookiin obboleeyyan teeti yookiin firoottan keeti yookiin dureeyyii ollaa keetii hin waamin; yoo waante, isaanille deebisanee si waamanee, deebittee hin kaffalta.

† 13:32 Jeedala: Ukkullo, geedala 14:11 Mat. 23:12; Luq. 18:14

¹³ Ati ammoo yennaa jila gootu, worra hiyyeessa, worra naafa, worra hokkola'aa fi worra ballaa waami!

¹⁴ Ati hin eebbifanta; isaan waan si'iif deebisanu hin qabanu, Waaqi ammoo guyyaa du'aa ka'a balchoole'eetitti si'iif hin deebisa» jedhe.

Mammaassa Jila Guddo'oo

(Mat. 22:1-10)

¹⁵ Keessummoota qori'itti hiiqanee tee'ane keessaa tokkochi, kana yennaa dhage'e Yesuusiin, «Mootummaa Waaqaatitti jilaaf ka tee'u ka badhaadhe!» jedhe.

¹⁶ Yesuus isaan, «Namichi tokko jila guddoo godhee keessummoota hedduu waame.

¹⁷ Yennaan jilaa yennaa geette, «Wonni maraa qophoweera, kowa'a!» jedhee worra waamametti akka himuuf tajaajilaa ifii itti erge.

¹⁸ Isaan martinuu ammoo waan itti aalatanu himatiisatti ka'ane. Ka matoomaa, «Lafa bitadheera, dhaqee ilaalu'uu male; maganne'e na hin kajeelin!» jedheen.

¹⁹ Kuun, «Qotiyyoo ximmaadii shan bitadheera, qotiisaa fi qotiisa dhabuu isaanii ilaaliisaaf kunoo kara'atti bayeera; maganne'e na hin kajeelin!» jedheen.

²⁰ Ka dhibiin, «Ani waajiba waan te'eef, dhaqqabee hin dhufu» jedheen.

²¹ Maarre tajaajilaan galee gootaa ifiititti waan kana hime. Abbaan jilaa aaree tajaajilaa ifiitiin, «Ariifadhuu gara karaa gugurda'aatii fi xurree qachaa keessaa dhaqiitii worra hiyyeessa, worra naafa, worra balla'aa fi worra hokkolaa fidi!» jedhe.

²² Tajaajilaan, «Goota'a, waan ati ajajje maraa muummesseera, ammoo ammalle addeen hin jirti!» jedheen.

²³ Maarre gootaa tajaajila'aan, «Gara kara'aatii fi xurre'ee dhaqiitii, akka manni kiyya guutuuf kolbaan akka dhuttu tolchi!

²⁴ Ani isinitti hima, worra duraan waamame keessaa tokkolle sagalee tiyya ta galgalaa afaaniin hin qabu!» jedhe» jedheen.

²⁵ Gumiin guddoon adoo isa woliin ideentuu, Yesuus itti garagalee,

²⁶ «Nami gara kiyya dhufu, abba'aa fi haadha ifii, haadha manaatii fi ijoollee ifii, obboleeyyanii fi obboleettota ifii, jiruu ifille na caalaa ka jaalatu yoo te'e, barataa kiyya te'iisaaf hin dande'u.

²⁷ Fannoo ifii ba'atee ka na hin hordonne, barataa kiyya te'iisaaf hin dande'u.

²⁸ «Isin keessaa nami mana dhaka'aa ijaaruu barbaadu, duraan dursee beesee ittiin ijaaree fixu akka qabu beekiisaaf, tee'ee ka gatii hin herrenne eennu?

²⁹ Yoo akkas hin te'in, hundee buusee* fixiisa ammoo yoo dadhabe, worri kana dhaggu maraa itti kolla;

³⁰ «Ilaa, namichi kun ijaarsa jalqabee fixiisa ammoo dadhabe» jedha.

³¹ Yookiin mootiin loltoota kuma kudhan qabu, mootii loltoota kuma diddama qabu woliin loliisaaf ka duulu tokko, duraan dursee gad tee'ee ka hin mari'anne kam?

³² Yoo hin dandeenne te'e, mootichi isa loliisaaf ka'e sun adoo fagoo jiruu ergantoota ifii itti ergee nageya buusiisaaf hin gaafata.

³³ Akkasuma, eennulle isin keessaa qabeenna ifii mara ka hin lakkinne barataa kiyya te'iisaaf hin dande'u» jedhe.

* **14:29 Hundee buusee:** Hundee kaasee, boroo dongoree

Soodda Kuraa Hin Qanne
(Mat. 5:13; Mar. 9:50)

³⁴ «Sooddi waan dansa'a, ammoo yoo kuraa ifi keessaa dhabe, attamiin deebi'ee kurowa ree?

³⁵ Lafaaf yookiin kosii tuulantuufille hin te'u; alatti hin gatama. Gurra dhage'u ka qabu dhage'uuti!» jedhe.

15

Mammaassa Hoolee Baddee
(Mat. 18:12-14)

¹ Gaafa tokko worri qaraxa guurruu fi cubbaaleyyiin dubbii Yesuusii dhage'iisaaf gara isaa dhufane.

² Fariisaayotaa fi barsiisoti Seeraa ammoo, «Namichi kun cubbaaleyyii hin fudhata, isaan wolille'een nyaata» jedhanee itti gungumane.

³ Tanaaf Yesuus itti mammaakee,

⁴ «Isin keessaa hoolee dhibba ka qabu, dhibba san keessaa hooleen takkat-tiin yoo duraa badde, sagaltamii sagali diidatti lakkisee hoolee badde san haga dhagutti barbaadiisaaf ka hin baane eennu?

⁵ Yennaa dhagge gammadee gurmoo ifii irratti kaafatee,

⁶ gara mana ifii gala. Achiin duuba lansootaa fi olloota ifii waamee, «Hoolee tiyya ta badde waan dhaggeef na waliin gammada'a!» hin jedha.

⁷ Ani isinitti hima, akkuma kana, balchoota sagaltamii sagali ka cubbuu irraa deebi'iisi hin barbaachinne caalaa, cubbichi tokko cubbuu ifii irraa yoo deebi'e ol gubba'atti gammadi guddaan hin te'a» jedhe.

Mammaassa Maallaqa Badee

⁸ Yesuus itti aansee, «Dubartiin saantii maallaqaa kudhan* qaddu takka kudhan san keessaa takkaan yoo badde, ifa issitee, mana ifii hartee haga dhaggitutti miidhassitee hin barbaaddii motii?

⁹ Yennaa dhaggite lansootaa fi olloota ifii waantee, «Saantii Maallaqaa tiyya, ta na duraa badde waan dhaggeef na waliin gammada'a!» isaaniin hin jetti.

¹⁰ Ani isinitti hima; akkuma kana cubbichi tokko cubbuu ifii irraa yennaa deebi'u ergantooti Waaqaa hin gammadan» jedhe.

Mammaassa Ilma Badee

¹¹ Yesuus itti aansee, «Namichi tokko ilmaan lamaan qaba.

¹² Maandhich abba'aan «Abbaa kiyya, karra teeti keessaa qooda na gewu naaf kenni!» jedhe. Maarre abbaan karra ifii isaaniif qoode.

¹³ Guyyoota diqqa'aan duuba ilmi maandhich karra isa geette mara wolitti qabatee gara biyya fago'oo deeme; achitti le'ii badduu le'iisaan karra ifii mara bittinneesse.

¹⁴ Waan qabu maraa fixateen duuba, beelti jadduun biyya sanitti gallaan rakkate.

¹⁵ Maarre worra biyya sanii keessaa namicha tokkoof hujiisaaf itti gale; namichille akka inni booyyee isaa tissuuf gara fichaa ifii erge.

¹⁶ Inni qollofa booyyeen nyaattu nyaatee gadhaa guutatiisaaf kajelee, ammoo namuu wo itti hin kennine.

¹⁷ «Duuba inni gara yaada ifii deebi'ee, «Hojjattooti abbaa kiyyaa ta sagalee nyaattee hambaa hambittu meeqa? Ani ammoo asitti beelaan du'aara.

^{15:2} Luq. 5:29-30 * ^{15:8} Saantii maallaqaa kudhan: Saantiin maallaqaa yookiin meeti'ii takkaan, hojjataa tokkoof mindaa guyyaa tokkoo ti

¹⁸ Ka'ee gara mana abbaa kiyyaa dhaqee, abbaa kiyyaan: Ani Waaqaa fi si yakkeera;

¹⁹ haganaa achi ani ilma keeti jedhamiisaaf hin malle; hojjattoota teeti keessaa akka hojjataa tokkoo na godhadhu jedhaan» jedhe.

²⁰ «Maarre inni ka'ee gara abbaa ifii deebi'e. Abbaan isaa ammoo, adoo inni fagoo jiruu isa dhaggee, nayeefii itti fiigee hanqafatee sunqate.

²¹ «Ilmi isaa ammoo, «Abbaa kiyya, ani Waaqaa[†] fi si yakkeera. Haganaa achi ani ilma keeti jedhamiisaaf hin malle» jedheen.

²² «Abbaan isaa ammoo tajaajiltoota ifitiin, «Ariifadha'aatii, woyaa, woyaa mara caaltu fida'aatii itti uffisa'a; qubee qubatti, kopheelle miilatti keya'a!

²³ Achiin duuba dardara coomaa fida'aatii qala'a, nyaataa jilifanna.

²⁴ Ilmi kiyya kun du'eeraayyu, amma ammoo jiraateera, badeeraayyu amma ammoo dhaggameera» jedhe. Maarre isaan jilifachuu jalqabane.

²⁵ «Yennaa tana ilmi angafichi fichaa keessa jiraayyu. Yennaa deebi'ee manatti dhikaate weeddu'uu fi sirba dhage'e.

²⁶ Maarre inni tajaajiltoota keessaa tokko gara ifii waamee, «Maanti maan te'e?» jedhee gaafate.

²⁷ Tajaajilaan deebisee, «Obboleessa keetittuu deebi'ee gale; waan inni nageyaa fi fayya'aan galeef, abbaan keeti dardara coomaa qalchiise» jedheen.

²⁸ Ilmi angafichi aaree mana seenuu dide; maarre abbaan gad itti bayee, akka inni mana seenuuf isa magannifate.

²⁹ Inni ammoo deebisee abbaa ifitiin, «Ilaa, ani woggoota kana duudii akka garbichaa si'iif hujaa ture, ajaja keetille ijumaa didee hin beeku; ati ammoo akka ani lansoota tiyya woliin gammaduuf buruusoo re'e'eelle ijumaa naaf kennitee hin beettu!

³⁰ Amma ammoo ilmi keeti kun karra teeti sagaagaltoota woliin fixee, deebi'ee dhufee jennaan, dardara coomaa isaaf qalte!» jedhe.

³¹ Abbaan deebisee, «Ilma kiyya, ati yennaa mara na woliin as jirta, wonni ani qabulle maraa teeti.

³² Obboleessi keeti kun ammoo du'eeraayyu, amma ammoo jiraateera; badeeraayyu amma ammoo dhaggameera; waan kanaaf nuuti jilifannee gammaduu qanna» jedheen» jedhe.

16

Mammaassa Toowataa Qaro'oo

¹ Yesuus barattoota ifitiin, «Namichi dureessi tokko, toowataa mana isaa toowatu qabaayyu. Toowataan kun akka karra isaa balleessaaru dureessichatti himane.

² Maarre namichi dureessichi toowataa san waamee, «Marroo teeti wonni ani dhage'u kun maan? Ati haganaa achi toowataa kiyyaa waan hin teeneef, herrega toowatummaa'aan itti hujje natti kenni» jedheen.

³ Toowataan sun gadhaa ifii keessatti, «Amma gootnaan kiyya toowatummaa tana na irraa fuudhaara, maan godhu naa woyya? Hin qotadha'atti hin dande'u, hin kadhada'atti hin fokkifadha.

⁴ Yennaa toowatummaa irraa ari'ame akka namooti gara mana ifii na fudhatanuuf, ani waan godhu hin beeka!» jedhe.

⁵ Achiin duuba worra liqaa gootaa isaa qabu tokko tokkoon waamee, ka duraatiin, «Liqaa gootaa kiyyaa meeqa ifi irraa qadda?» jennaan,

[†] 15:21 Waaqa: Hiikkaan gariin ol-gubbaa jedha

⁶ namichi deebisee, «Zayitii ejersaa okkotee dhibba» jedhe. Maarre toowataan, «Galmee keeti hoo'o; ariifadhuu shantama jedhii barreessi».

⁷ Ammalle toowataan, nama liqaa gootaa isaa qabu dhibi'iin, «Liqaa gootta'aa meeqa qadda?» jedhee gaafate. Namichille deebisee, «Qamadii daawullaa shantama*» jedhe. Toowataan, «Galmee keeti hoo'o; dhibba saddeeti jedhii barreessi» jedheen.

⁸ Gootaan, toowataa hin addatanne san mala inni dhowateef jaje. Kun ijoolleen lafa tanaa ijoollee ifaa caalaa worra isaan fakkaatu woliin wolitti dhikeenna qabanuun† malaameyyii akka te'ane mudhisa.

⁹ Ani isinitti hima, yennaa karri teessan hobbaate, akka isaan gara mana bara baraan itti leetanuu isin fudhatanu, karra dabaa ta lafa tanaatiin fira baafadha'a!

¹⁰ «Nami waan diqqo'oon addatamaa te'e waan guddoolle'een addatamaa hin te'a. Nami waan diqqo'oon hin addatanne, waan guddoolle'een hin addatamu.

¹¹ Yoo isin karra biyya lafaa tanaan hin addatamin, eentu addatee karra dhuga'aa isinitti kenna ree?

¹² Isin karra worra dhibi'iitiin yoo hin addatamin, karra isiniif teetu eentu isiniif kenna ree?

¹³ «Nami tokko garba gootaa lamaa te'iisaaf hin dande'u, tokkocha jibbee, kaan hin jaalata; yookiin tokkocha ulfeessee kaan hin tuffata. Akkasuma Waaqaa fi beesee tajaajiliisaaf hin dandeettanu» jedhe.

Seeraa Fi Mootummaa Waaqaa

(Mat. 11:12-13)

¹⁴ Fariisaayoti worri beesee jaalatanu yennaa waan Yesuus dubbate kana dhage'ane isa ceeggatane.

¹⁵ Yesuus ammoo isaaniin, «Isin yennaa maraa balchoota ifi gootanee ilaaltan, Waaqi ammoo waan gadhaa keessan keessa jiru dhagga, wonni nama duratti ulfaataa fakkaatee mudhatu, Waaqa duratti tuffatama'a.

¹⁶ Seerri Muuse'eetii fi kitaaboti raagotaa haga bara Yohaannisii cupha'aatitti hujaa turane. Haga mootummaan Waaqaa odeeffanteen jalqabee nami martinuu itti galiisaaf jabeennaan wodhaaneera.

¹⁷ Ammoo Seera keessaa bixxilleen‡ addee dhidhattu ol-gubba'aa fi latti tartu irra kaso'o.

¹⁸ «Nami haadha manaa ifi lakkisee dubartii dhibii fuudhu maraa hin gaarayyeffata. Akkasuma dubartii abbaan manaa lakkise ka fuudhu hin gaarayyeffata.

Namicha Dureessaa Fi Alaazar

¹⁹ «Namichi dureessi woyaa dhiillee dansittii, ta gatii guddo'oo uffataa, guyyaa mara qananumma'aan le'u tokko jira.

²⁰ Namichi hiyyeessi tokko, ka Alaazar jedhamu, ka nafi isaa duudiin mammadaayeeru balbala namicha dureessichaa dura irkateeraayyu.

²¹ Inni waan qorii namicha dureessichaa irraa harca'e nyaatiisaaf halcha. Sareelle dhuttee madaa isaa arraabbatti.

²² Namichi hiyyeessi duunaan, ergantooti Waaqaa fuudhanee cinaa Abrahaamii geessane. Namichi dureessichille du'ee awwaalame.

²³ Inni qilee§ keessatti rakkataa adoo jiruu, yennaa ol ilaale, fago'otti Abrahaam dhagge; Alaazarille cinaa isaatitti dhagge.

* **16:7** Daawullaa shantama: Qamadii gaashaa tokko irraa gale te'uu dande'a † **16:8** Wolitti dhikeenna qabanuun: Waan mataa ifitiif, le'ii lafa tanaatiin **16:13** Mat. 6:24 ‡ **16:17** Bixxilleen: Boqqoorri qubee takka'aa **16:18** Mat. 5:32; 1 Qor. 7:10-11 § **16:23** Qilee: Addee worri du'e wolitti qabamu

²⁴ Maarre inni Abrahaamiin, «Abbaa kiyya Abrahaam naa nayi! Ani bobe'a ibiddaa kana keessatti guddoo waan rakkatiisatti jiruuf, Alaazar qaccee quba ifii bisaan keessa cuuphee akka arraba kiyya naaf qabbaneessu maganne'ee naa ergi» jedhee waammate.

²⁵ «Abrahaam deebisee, «Lansa kiyya, ati bara jiruu teeti ta lafaa, waan dansaa dhaggattee akka gammadde qaabadhu; Alaazar ammoo rakkataa ture. Amma inni gammadiisatti jira, ati ammoo guddoo rakkatiisatti jirta.

²⁶ Tana maraa irratti, akka worri asii gara keessan, worri achiille as gara keenna hin qaxxaamurre, bowwaan guddaan nu wodhakkaa jira» jedheen.

²⁷ Namichi dureessichi ammoo, «Abrahaam, yoona akka Alaazar gara mana abbaa kiyyaa ergitu si kadhadha.

²⁸ Ani obboleeyyan shan waan qabuuf, isaanille as addee rakkinnaa tana akka hin dhunne dhaqee ifi eeggachiisuu ti» jedhe.

²⁹ «Abrahaam deebisee, «Isaan Muuse'ee fi raagota qaban, dubbii isaanii dhage'anuu ti» jedhe.

³⁰ Achiin duuba namichi dureessichi, «Waawwoo, abbaa kiyya Abrahaam, nami tokko du'aa ka'ee adoo dhaqee isaanitti himee ammoo cubbuu ifii irraa hin deebi'an» jedhe.

³¹ Abrahaam ammoo, «Isaan Muuse'ee fi raagota dhage'uu yoo dhabane, yoo nami tokko du'aa ka'elle hin dhugeeffatanu» jedheen» jedhe.

17

Namoota Gufachiisuu Irraa Ifi Eeggachuu (Mat. 18:6-7,21-22; Mar. 9:42)

¹ Yesuus barattoota ifitiin, «Wonni kolbaa gufachiisu dhufuu hin dhadu; ammoo nama gufachiisu saniif aanne'e!

² Worra didiqqaa kana keessaa tokkocha gufachiisu'uu mannaa, dhakaan daaku'uu morma isaatitti hidhamee abbaaya'atti adoo gatamee isaaf woyya.

³ Maarre isin ifi eeggadha'a; obboleessi keeti yoo si yakke, jabeessii gorsi*; yoo inni yakkaa ifii irraa deebi'e isaaf araaram.

⁴ Guyya'atti yennaa torba si yakkee, guyya'atti yennaa torba deebi'ee gara keeti dhufee, «Ani yakkaa irraa deebi'eera» yoo si'iin jedhe isaaf araaram» jedhe.

Dhugeeffannaa

⁵ Ergantooti Gootta'aan, «Dhugeeffannaa teenna ede'i» jedhane.

⁶ Gootaan deebisee, «Dhugeeffannaa haga midhaan sanaafici'ii geettu adoo qabaattanee, qilxaa kanaan, «Hiddaan buqqa'ii abbaayaa keessatti dhaabami!» yoo jettane, innille isiniif hin ajajama» jedheen.

Waan Tajaajilaa Irraa Barbaadamu

⁷ Yesuus, «Isin keessaa nami tokko tajaajilaa qotii qotu yookiin hoolee tissu yoo qabaate, tajaajilaan sun addee huji'itii yennaa galu, «Koy as tee'ii sagalee nyaadhu!» hin jedhanii?

⁸ Addee tana jedhu, «Sagalee naaf qopheessii, haga ani nyaadhee unutti woyaa teeti marxifadhuu naaf ergami! Achiin duuba atille hin nyaata hin unta» hin jedhanii motii?

⁹ Inni, tajaajilaa kana waan inni isa ajaje waan muummesseef hin galate-effataa?

* **17:3** Jabeessii gorsi: Xixi **17:3** Mat. 18:15

¹⁰ Maarre isinille waan ajajantane maraa yennaa muummessitane, «Nuuti tajaajiltoota woy hin baane; nuuti waan tolchu'uu malle callaa tolchine» jedha'a!» isaaniin jedhe.

Yesuus Nama Kudhan Fayyise

¹¹ Yesuus adoo Yersaaleem dhaquu, meessaa Samaariya'aatii fi Galiila'aatiin dabare.

¹² Adoo inni gara ollaa tokkoo seeniisatti jiruu, namooti kudhan ka dhukkuba goga'aa farrisiisa'aan dhibamaneeranu tokko itti dhufane. Isaan fagoo dhaabbatanee,

¹³ qoonqoo guddo'oon, «Yesuus! Gootta'a! Nuunay!» jedhaneen.

¹⁴ Yesuus yennaa isaan dhagge, isaaniin, «Dhaqa'aatii hayyootatti ifi mudhisa'a!» jedhe. Isaan adoo dhaqiisatti jiranuu fayyane.

¹⁵ Isaan keessaa tokkochi akka fayye yennaa dhagge, qoonqoo guddo'oon Waaqa galateessaa, deebi'ee dhufe.

¹⁶ Miila Yesuusiititti jigee isa galateeffate; inni nama Samaariya'aa ti.

¹⁷ Yesuus, «Namooti kudhanuu fayyanee motii? Nami sagali meet ree?

¹⁸ Namicha orma kana malee, nami Waaqa galateeffatiisaaf deebi'e hin jiruu?» jedhee gaafate.

¹⁹ Achiin duuba Yesuus namichaan, «Ol ka'ii deemi; dhugeeffannaan teeti si fayyitteerti» jedhe.

Dhufiisa Mootummaa Waaqaa

(Mat. 24:23-28,37-41)

²⁰ Worri Fariisaayotaa gariin mootummaan Waaqaa yoom akka dhuttu Yesuus gaafatane. Inni deebisee, «Mootummaan Waaqaa karaa nami eeguun hin dhuttu.

²¹ Eennulle, «Ilaa, as jirti!» yookiin, «Achi jirti!» hin jedhu; sababille, mootummaan Waaqaa isin keessa[†] jirti» jedhe.

²² Achiin duuba inni barattoota ifitiin, «Yennaan isin guyyoota Ilma Namaa keessaa, guyyaa tokko dhaggiisaaf halchitanu hin dhutti, ammoo hin dhaggitanu.

²³ Namooti isiniin, «Kuunnoo achi jirti!» yookiin «Kunoo asi jirti!» hin jedhan. Isin ammoo hin dhaqina'a; faanalle hin fiigina'a!

²⁴ Akkuma balaqqeettiin gubba'aa balaqqitte gara tokkoo haga gara kaaniititti issitu, guyyaa Ilmi Namaa dhufu akkasuma hin te'a.

²⁵ Ammoo kanaan dura, Ilmi Namaa dhaloota kanaan guddoo rakkatu'uu fi jibbamuu qaba.

²⁶ «Bara Nohiititti akkuma te'ee, bara Ilma Namaatittille akkasuma hin te'a.

²⁷ Haga guyyaa Nohi hoboloo guddo'otti galuutitti, kolbaan nyaataa unaa, fuudhaa heerumaa turte, bisaan badi'iille dhufee isaan maraa balleesse.

²⁸ Bara Looxiille akkuma kana te'e; kolbaan nyaataa unaa, bitataa gurgurataa, midhaan dhaabaa, ijaarrataa turte.

²⁹ Guyyaa Loox Sodoomii baye ammoo, ibiddii fi dhakaan bobe'u olgubba'aa roobee isaan maraa fixe.

³⁰ Guyyaa Ilmi Namaa mudhatuttille akkasuma hin te'a.

³¹ «Guyyaa san nami mana gubbaa jiru, ka mey[‡] isaa mana keessa jiru, fudhatiisaaf gad bu'ee gara manaa hin deebi'in.

³² Haadha manaa ta Looxii qaabadha'a!

³³ Nami jiruu ifi fayyifatiisaaf barbaadu jiruu ifi hin dhaba; nami jiruu ifi dhabu ammoo jiruu ifi hin fayyifata.

[†] 17:21 Isin keessa: Yookiin odduu teessan [‡] 17:31 Mey: Miyi 17:31 Mat. 24:17-18; Mar. 13:15-16

³⁴ Ani isinitti hima, halkan san nami lamaan taqee takkattii irra hin rafa, tokkochi hin fudhatama, kuun ammoo hin hafa.

³⁵ Dubartiin lamaan woliin daakuu daatti, takkattiin hin fudhatanti, tuun ammoo hin hatti.

³⁶ [Nami lamaan fichaa tokko keessa hin jiraata, tokkochi hin fudhatama, kuun ammoo hin hafa]§» jedhe.

³⁷ Barattooti isaa, «Gootta'a, eessatti?» jedhanee gaafatane. Yesuus deebisee, «Addee reefi jirutti allaatiin yaati» jedhe.

18

Mammaassa Haadha Hiyyeessaatii Fi Abbaa Mura'aa

¹ Achiin duuba Yesuus barattooti isaa yennaa mara akka daadimatanuu fi daadimatiisa akka hin dadhanne barsiisiisaaf mammaassa itti mammaakee:

² «Abbaan mura'aa ka Waaqa hin sodaanne, ka namalle hin ulfeessine tokko qachaa tokko keessa jira.

³ Haati hiyyeessaa ta yennaa yenna'aan gara isaa deddeebi'aa, «Falmataa kiyya irratti muraa qajeelaa naaf muri» jedhaa itti boottu takkalle qachaa san keessa jirti.

⁴ Abbaan mura'aa yennaa hedduu wo godhuu dide; duuba ammoo, «Waaqa sodaa yookiin nama ulfeessuu yoo dhabelle,

⁵ haati hiyyeessaa tun ittuma waan na rakkittuuf, akka isiin yennaa mara dhufaa na hin hifachiinne isi'iif hin mura» jedhee ifiin dubbate» jedhe.

⁶ Gootaan, «Waan abbaan mura'aa jallaamessi sun jedhe dhage'aa!

⁷ Waaqille worra isaaf filame ka halkanii fi guyyaa gara isaa iyyuuf hin muruu ree? Isaan qarqaariisaaf hin hancaaraa?

⁸ Ani isinitti hima, dafee isaaniif hin mura. Te'uu malee, Ilmi Namaa yennaa dhufu dhugeeffannaa lafa irratti hinuma dhaggaa laati?» jedhe.

Mammaassa Fariisaayichaatii Fi Namicha Qaraxa Guuruu

⁹ Yesuus namoota garii ka balchoolee ifi seyanee, worra kaan tuffatanutti, mammaakee:

¹⁰ «Nami lamaan daadimatiisaaf gara Galma Waaqaa dhage: tokkochi Fariisaayicha, kuun namicha qaraxa guuru.

¹¹ Fariisaayichi qofuu dhaabbatee, «Waaqa, ani akka worra dhibi'ii: saantuu, jallaamessa, gaarayyeffataa, yookiin keessattuu akka namicha qaraxa guuru kanaa, waan te'uu dhabeef si galateeffadha.

¹² Torbaan keessatti yennaa lamaan laama; waan dhaggadhu mara keessalle'ee kudhan keessaa tokko si'iif kenna» jedhee daadimate.

¹³ Namichi qaraxa guuru sun ammoo, fagaatee dhaabbatee, gara olgubba'aalle adoo hin ilaalin, qoma dhodhowataa, «Waaqa, na cubbicha marari!» jedhe.

¹⁴ Ani isinitti hima, Fariisaayicha saniin irra namichi qaraxa guuru kun Waaqa duratti balchoomee gara mana ifii deeme. Nami ifi guddisu hin diqqaata, nami ifi diqqeessu hin guddata» jedhe.

Yesuus Daa'immaan Eebbise

¹⁵ Yesuus harka ifitiin qaqqabee akka eebbisuuf namooti gariin daa'immaan gara isaa fidane. Barattooti isaa yennaa tana dhaggane, xixanee isaan dhooggane.

¹⁶ Yesuus ammoo ijoollee gara ifii waamee, «Mootummaan Waaqaa ta worra akka kanaa waan teeteef, lakkisa'a, ijoolleen gara kiyya dhuttuu ti, hin dhooggina'a.

¹⁷ Ani dhugumaan isinitti hima, eennulle ka mootummaa Waaqaa akka daa'ima hin fudhanne, ijumaa itti hin galu» jedhe.

Namicha Dureessa Tokko
(Mat. 19:16-30; Mar. 10:17-31)

¹⁸ Bulchaan Yihudootaa tokko, «Barsiisaa dansaa, jiruu bara baraa dhaggati-isaaf ani maan godhuu male?» jedhee Yesuus gaafate.

¹⁹ Yesuus deebisee, «Maaf dansaa anaan jetta? Waaqa tokkocha malee, nami dansaan tokkolle hin jiru.

²⁰ Ati ajaja, «Hin gaarayyeffatin, hin ijjeesin, hin hatin, dharaan dhugaa hin bayin, abba'aa fi haadha teetiif ulfinna kenni!» jedhu hin beetta» jedhe.

²¹ Namichi deebisee, «Kana maraa ijoollumma'aan jalqabee eeggadheera» jedhe.

²² Yesuus yennaa kana dhage'e namichaan, «Ammalle wonni godhuu malte tokkochi hafeera. Waan qaddu duudii gurguriitii hiyyeeyyi'iif qoodi, olgubba'atti hin duroonta; achiin duuba koyiitii na hordof!» jedhe.

²³ Namichi ammoo yennaa tana dhage'e, guddoo dureessa waan te'eef, guddoo gadde.

²⁴ Yesuus akka namichi gadde dhaggee, «Worra dureeyyi'iif mootummaa Waaqaatitti galuun attam attam rakkisa'a!

²⁵ Dhugumaan, nami dureessi tokko mootummaa Waaqaatitti galiisaan irra, gaalli qowa limmo'oo keessa hulluuqiisatti irra kaso'o» jedhe.

²⁶ Worri kana dhage'e, «Yoona eentu fayyuu dande'a ree?» jedhee gaafate.

²⁷ Yesuus deebisee, «Wonna namaaf hin dande'ane Waaqaaf hin dande'anti» jedhe.

²⁸ Achiin duuba Pheexroos, «Kunoo, nuuti qe'ee teenna lakkinnee si hor-donneerra» jedhe.

²⁹ Yesuus deebisee, «Ani dhugumaan isinitti hima, nami mootummaa Waaqaatiif jedhee, mana yookiin obboleeyyan yookiin haadhaa fi abbaa yookiin ijoollee ifii lakkise,

³⁰ bara jiruu tanaatitti dachaa hedduu caalchisee hin fudhata; bara jiruu dhuttuutittille jiru bara baraa hin fudhata» isaaniin jedhe.

Yesuus Marroo Du'a Ifii Sadeessoo Dubbate
(Mat. 20:17-19; Mar. 10:32-34)

³¹ Yesuus barattoota kudhanii lamaan maddi'itti fuudhee, «Kunoo gara Yerusaalemii ol bayaarra, marroo Ilma Namaatiif ta raagotaan barreeffante maraa hin muummotti.

³² Inni harka worra Yihudoota hin te'iniititti dabarfamee hin kennama. Isaan itti hin taphatan, hin arrassan, ittille hin tufan.

³³ Dhaananeen duuba hin ijjeesan, guyyaa sadiin duuba ammoo du'aa hin ka'a» isaaniin jedhe.

³⁴ Barattooti ammoo waan kana keessaa womaa hin hubanne. Hiikkaan dubbii sanii isaan duraa waan dhokatteertuuf waan Yesuus dubbate hubati-isaaf hin dandeenne.

Yesuus Kadhatticha Ballaa Tokko Fayyise
(Mat. 20:29-34; Mar. 10:46-52)

³⁵ Yesuus Yeriko'otti yennaa dhikaate, namichi ballaan tokko karaa qar-qara tee'ee kadhatiisatti jiraayyu.

³⁶ Gumiin cinaa isaatiin dabartuun dhage'ee, waan te'iisatti jiru gaafate.

³⁷ Isaan, «Yesuusii nama Naaziretiititti asiin dabariisatti jira» jedhane itti himane.

³⁸ Maarre inni, «Yesuus, Ilma Daawitii na marari!» jedhee iyye.

³⁹ Worri dura ideemu cadhisiisiisaaf isa xixe; inni ammoo ittuma caalchisee, «Ilma Daawitii, na marari!» jedhee iyye.

⁴⁰ Yesuus dhaabbatee, namicha ballaa san gara isaa akka fidanuuf ajaje. Yennaa inni itti dhikaate,

⁴¹ Yesuus «Maan akka ani si'iif godhu barbaadda?» jedhee isa gaafate.

Inni deebisee, «Gootaa kiyya, ani akka dhaggu barbaada» jedhe.

⁴² Yesuus deebisee, «Dhaggi! Dhugeeffannaan teeti si fayyitteerti» jedheen.

⁴³ Yennuma san dhaggee, Waaqa galateeffataa Yesuus hordofe. Gumiin sun martinuu yennaa tana dhaggite, Waaqa galateessite.

19

Yesuusii Fi Zakkewoos

¹ Yesuus Yerikoo dhagee keessa dabare.

² Namichi Zakkewoos jedhamu tokko achi jiraayyu. Inni mootii worra qaraxa guuruutii fi nama dureessa.

³ Yesuus kam akka te'e beekiisaaf barbaadee, hojjaan isaa ammoo gabaadduu waan teeteef, gumiin waan heddatteef Yesuus dhaggiisaaf hin dandeenne.

⁴ Yesuus karaa saniin waan dabaraaruuf, isa dhaggiisaaf jedhee gumi'in dura fiigee qilxaa tokko yaabe.

⁵ Yesuus addee san yennaa geye, ol ilaalee, «Zakkewoos, adha mana keeti ooluun waan naa maleef, dafii gad bu'i» jedheen.

⁶ Maarre inni dafee gad bu'ee gammadaan Yesuus fudhate.

⁷ Worri kana dhagge maraa, «Inni keessummma'aaf mana cubbichaa dhage» jedhee gungume.

⁸ Zakkewoos ol ka'ee dhaabbatee Goota'aan, «Goota'a! Ani wol qixxee karra tiyyaa hiyyeeyyi'iif hin qooda, eennulle irraa sobee yoo wo fudhadhee jiraadhe, harka afur hin deebisaaf» jedhe.

⁹ Yesuus isaan, «Namichi kunille ilma Abrahaamii waan te'eef, adha fayyinni mana kanaaf dhufeera.

¹⁰ Ilmi Namaa ka bade barbaadee fayyisiisaaf dhufeera» jedhe.

Mammaassa Worra Saantimiin Worqi'ii Itti Kennantee

(Mat. 25:14-30)

¹¹ Adoo isaan tana dhage'iisatti jiranuu, Yesuus Yersaalemitti waan dhikaateeruuf, sababa kolbaan mootummaan Waaqaa yennuma san waan mudhattu seeteertuuf, itti mammaakee,

¹² «Nami ulfinnaa* tokko mootii te'ee deebi'iisaaf, biyya fago'oo dhage.

¹³ Inni tajaajiltoota ifii keessaa kudhan waamee, saantimii worqi'ii kudhan itti kennee, «Haga ani deebi'utti daddala'aatii bu'aa buusa'a» jedhe.

¹⁴ Kolbaan biyya isaa ammoo isa jibbitee, «Namichi kun akka mootii keenna te'u nuuti hin barbaannu» jettee ergantoota isa faana ergite.

¹⁵ «Nami ulfinnaa sun mootii te'een duuba deebi'ee dhufe. Achiin duuba, beese inni kenneen daddalanee, bu'aa isaan buufatane beekiisaaf tajaajiltoota ifii waansise.

¹⁶ Tajaajilaan duraa dhufee, «Goota'a, saantimii worqi'ii ta ati natti kenniteen, saantimii worqi'ii harka kudhan buufadheera» jedheen.

¹⁷ Mootichi isaan, «Tajaajilaa kiyya dansa'a, dansaa goote! Waan akka malee diqqoo irratti waan addatanteef, ani qachoota gugurdoo kudhan irratti itti gaafatamummaa si'iif hin kenna» jedhe.

* 19:12 Nami ulfinnaa: Abbaan qoro'oo

¹⁸ Tajaajilaan lammeesso'oolle dhufee, «Gootta'a, saantimii worqi'ii ta ati natti kenniteen harka shan buufadheera» jedhe.

¹⁹ Mootichi isaan, «Atille, qachoota gugurdaa shan irratti itti gaafatamaa hin teeta» jedhe.

²⁰ Achiin duuba tajaajilaan dhibiin dhufee, «Gootta'a, saantimiin worqi'ii teeti kunoo ti; hoccu'uun maree dhosseera.

²¹ Ati nama hamaa waan teeteef ani si sodaadhe. Ati waan hin kuufatin fudhata, waan hin facaasinille haammatta» jedhe.

²² Gootaan isaa, isaan, «Tajaajilaa hama'a! Waanuma ati dubbatteen sittii mura. Ani nama hamaa akka te'e, waan hin kuufatin ka fudhadhu, waan hin facaasin ka haammadhu akka te'e eega beettee,

²³ beesee tiyya worra dhalaan liqeeffatutti[†] maaf hin kennine ree? Silaa yennaa deebi'e, dhala woliin hin fudhadhaayyu» jedhe.

²⁴ Achiin duuba inni worra achi dhaabbateeruun, «Saantimii worqi'ii san isa irraa fuudha'aatii tajaajilaa saantimii worqi'ii kudhan qabuuf kenna'a!» jedhe.

²⁵ Isaan ammoo, «Gootta'a, inni duruu kudhan qaba!» jedhaneen.

²⁶ Mootichi deebisee, «Ani isinitti hima, nama qabuuf itti dabalamee hin kennama; nama hin qanne ammoo ka inni qabuuyyu irraa hin fudhatama.

²⁷ Amma ammoo diinota kiyya ka akka ani isaan irratti mootii hin teene barbaadane, as fida'aatii ila tiyya duratti gorra'a'a!» jedheen» jedhe.

Yesuus Ulfinna Gudda'aan Yerusaaalem Seene

(Mat. 21:1-11; Mar. 11:1-11; Yoh. 12:12-19)

²⁸ Yesuus tana dubbateen duuba isaniin dura garuma duraa gara Yerusaalemii ol deeme.

²⁹ Yennaa addee gaara ejersaa jedhantutti, Betfaage'ee fi Bitaniya'atti dhikaate, barattoota ifii keessaa lamaaniin,

³⁰ «Gara olloota isiniin duraa dhaqa'a; akkuma achi geettaneen ilmayyoo harre'ee mandiida hidhameeruun hin dhaggitan. Hiika'aatii as fida'a.

³¹ Eennulle, «Maaf hiittan?» jedhee yoo isin gaafate, «Gootta'atti barbaada» jedha'aan» jedhe.

³² Maarre worri ergamane dhaqanee, akkuma Yesuus isaanitti hime teetteen dhaggane.

³³ Adoo isaan ilmayyoo harre'ee san hiikiisatti jiranuu, worri harre'ee, «Maaf ilmayyoo harre'ee hiittan?» jedhee isaan gaafate.

³⁴ Isaan deebisane, «Gootta'atti barbaada» jedhane.

³⁵ Achiin duuba isaan harree san gara Yesuusii fidanee, woyaa ifii irra buusanee Yesuus irra teessisane.

³⁶ Adoo Yesuus yaabbatee ideemuu, kolbaan woyaa ifii kara'atti atte.

³⁷ Yennaa inni karaa gaara ejersaa irraa gad buusutti dhikaate, gumiin barattoota isaa duudiin, hujii bilbaasaa dhaggite maraaf gammaddee, qoon-qoon guddoon,

³⁸ «Mootiin maqaa Gootta'aatiin dhufu ka eebbifame! Ol-gubba'atti nageenni, olii ol-gubba'aatile ulfinni te'u!» jedhaa Waaqa galateeffatte.

³⁹ Gumii san keessaa Fariisaayoti gariin, «Barsiisa'a, barattooti teeti akka cadhisanuuf xixi!» Yesuusiin jedhane.

⁴⁰ Yesuus ammoo deebisee, «Ani isinitti hima, yoo isaan cadhisane, dhakooti hin iyyan» jedhe.

Yesuus Yerusaalemiif Bowe

[†] **19:23** Worra dhalaan liqeeffatutti: Yookiin mana baanki'iititti maaf hin kuusin **19:26** Mat. 13:12; Mar. 4:25; Luq. 8:18

⁴¹ Yesuus itti dhikaatee qachaa Yerusaaalemii yennaa dhagge, boweefii,

⁴² «Adhumalle waan nageya si'ii fidu adoo beettee jiraattaa! Amma ammoo ila teeti duraa dhokateera!

⁴³ Guyyooti diinoti keeti dalleya marsanee sitti ijaarane, si marsanee, karaa maraan sitti cufanu hin dhufa.

⁴⁴ Bara Waaqi itti si fayyisiisaaf dhufe waan hin beenneef, si'ii fi ijoollee[‡] teeti ta dalleya keeti keessa jirtu ijjumaa hin balleessan. Dhakaa tokkochalle wol irratti si'iif hin lakkisanu» jedhe.

Yesuus Gara Galma Waaqaa Dhage

(Mat. 21:12-13; Mar. 11:15-19; Yoh. 2:13-22)

⁴⁵ Achiin duuba Yesuus Galma Waaqaa seenee, worra achitti wo gurguratu alatti yaase.

⁴⁶ Inni isaaniin, «*«Manni kiyya mana daadimataa te'a» jedhantee barreef-fanteerti; isin ammoo goda saantu'uu gootane»* jedhe.

⁴⁷ Yesuus guyyaa mara Galma Waaqaa keessatti barsiise. Sooreyyiin hayyootaa, barsiisoti Seeraatii fi sooressitooti kolba'aa isa ijeesiisaaf barbaadane.

⁴⁸ Te'uu malee, kolbaan martinuu yaada guutu'uun dubbii isaa dhage'iisatti waan jirtuuf isa wo godhiisaaf karaa hin dhagganne.

20

Gaaffii Marroo Baallii Yesuusiitii Dhikaatte

(Mat. 21:23-27; Mar. 11:27-33)

¹ Gaafa tokko Yesuus Galma Waaqaa keessatti kolbaa barsiisiisaa fi Oduu Gammadaa lallabiisatti adoo jiruu, sooreyyiin hayyootaati fi barsiisoti Seera Muuse'ee, maanguddoota waliin gara isaa dhufanee,

² «Baallii maaniitiin waan kana goota? Eentu baallii tana si'iif kenne? Nutti himi!» jedhaneen.

³ Inni deebisee, «Anille gaaffii tokko isin gaafadha;

⁴ cuuphaan Yohaannis cuuphe Waaqa irraa moo, nama irraa dhutte? Natti hima'a!» jedhe.

⁵ Isaan waan kana irratti mari'atane, «*«Waaqa irraa» yoo jenne, «Maaf dubbii isaa hin dhugeeffatin ree?» nuun jedha.*

⁶ «Nama irraa» yoo jenne ammoo, kolbaan martinuu akka raagaa tokkootitti Yohaannis waan dhugeeffatteertuuf, dhaka'aan nu tunti» waliin jedhane.

⁷ Maarre isaan, «Eessaa akka dhutte nuuti hin beennu» jedhane deebisane.

⁸ Yesuus deebisee, «Anille baallii maaniitiin waan kana akka godhu isinitti hin himu» isaaniin jedhe.

Mammaassa Qonnaan Bultoota Fichaa Woyni'ii

(Mat. 21:33-46; Mar. 12:1-12)

⁹ Yesuus itti aansee mammaassa kana kolba'atti mammaakee, «Namichi tokko muka woyni'ii fichaa ifiititti dhaabee, qonnaan bultootaaf kireessee, biyya fago'oo dhagee achi ture.

¹⁰ Yennaan guuranu geennaan, qooda midhaan woyni'ii ka isa gewu akka itti kennanuuf garbicha ifii tokko gara qonnaan bultootaa erge. Isaan ammoo isa dhaanane harka duwwaa ari'ane.

¹¹ Maarre inni garbicha dhibii itti erge; isaan isalle dhaanane salphisane harka duwwaa ari'ane.

[‡] 19:44 *Ijoollee*: Kolbaa 19:47 *Luq.* 21:37

¹² Inni ammalle garbicha sadeesso'oo itti erge; isaan isaalle madeessanee alatti darbane.

¹³ Achiin duuba abbaan muka woyni'ii, «Ani maan godhu? Ilma kiyya jaalatamaa itti erga; isa hin ulfeessan fa te'a» jedhe.

¹⁴ Qonnaan bultooti ammoo yennaa isa dhaggane, «Kun ka dhaalu; akka dhaalli nu'uuf te'u, kowaa isa ijeennaa!» jedhane mari'atane.

¹⁵ Maarre isaan fichaa muka woyni'ii keessaa alatti isa darbane ijjeesane. «Yoona abbaan fichaa muka woyni'ii maan isaan godha laati?

¹⁶ Inni hin dhufa, qonnaan bultoota san hin ijjeesa, fichaa muka woyni'iille worra dhibi'itti hin kennata» jedhe.

Kolbaan tana yennaa dhageette, «Hanqisi!» jette.

¹⁷ Yesuus ammoo isaan laalee,
«Dhakaan worri mana ijaaru tuffate,
dhakaa dhakaa maraa caalaa barbaadamu te'e»
jedhante ta barreeffante maan jechu'u ree?

¹⁸ Nami dhakaa san irratti jigu maraa hin caccaba; nami dhakaan sun irratti jigu ammoo hin bututa» jedhe.

¹⁹ Barsiisoti Seera Muuse'eetii fi sooreyyiin hayyootaa akka Yesuus mam-maassa kana marroo isaaniitiif mammaake beekanee, yennuma san isa qabiisaaf barbaadane; ammoo kolbaa sodaatane.

Gaaffii Marroo Kaffaliisa Gibiraa (Mat. 22:15-22; Mar. 12:13-17)

²⁰ Isaan Yesuus baalli'ii fi hunna bulchaa worra Rooma'aatitti dabarsanee kenniisaaf, waan inni dubbatuun qaxafiisaaf isa gaadane; maarre dootuu* nama balchaa ifi fakkeessitu itti ergane.

²¹ Maarre dootuun, «Barsiisa'a, wonni ati dubbattuu fi barsiittu dhugaa akka teete nuuti hin beenna; nama adoo wol hin caalchisin karaa Waaqaa dhuga'aan hin barsiitta.

²² Mootii worra Rooma'aatiif gibira gabbaruun seera moo seeraa moti?» jettee isa gaafatte.

²³ Yesuus ammoo maltummaa isaanii dhaggee,

²⁴ «Beesee† ittiin bitaa gurgurattanu takka natti mudhisa'a; Fakki'ii fi barreeffama eennuutitti irra jira?» isaaniin jedhe.

Jennaan, «Ka mooticha worra Rooma'aati» jedhane.

²⁵ Maarre Yesuus isaaniin, «Ka mootichaa mootichaaf, ka Waaqaa Waaqaaf kenna'al» jedhe.

²⁶ Isaan kolbaa san duratti waan inni dubbatteen isa qaxafiisaaf hin dandeenne. Deebii isaa baaseffatanee cadhisane.

Gaaffii Marroo Du'aa Ka'iisaa (Mat. 22:23-33; Mar. 12:18-27)

²⁷ Saduqooti gariin, worri du'aa ka'iis hin jiru jedhanu, gara Yesuusii dhufanee,

²⁸ «Barsiisa'a, Muuseen, «Nami tokko niitii fuudhee ijoollee adoo hin uumatin isii irraa yoo du'e, obboleessi isaa haadha hiyyeessaa san dhaalee sanyii obboleessa ifitiif dabarsuuti» jedhee nu'uuf barreesseera.

²⁹ Obboleeyyan torba, tokko jiran. Angafichi isaanii niitii fuudhee ijoollee adoo hin uumatin du'e.

³⁰ Obboleessi isatti aanulle, haadhuma hiyyeessaa san dhaalee ijoollee adoo hin uumatin du'e;

* **20:20** Dootuu: Miillammee † **20:24** Beesee: Kitaab Giriikii dinaara jedha **20:27** HuE. 23:8

³¹ achiin duuba obboleessi sadeesso'oolle isii dhaale. Akkasuma obboleeyyan torbaanuu adoo isii irraa ijoollee hin uumatin duute.

³² Muummee irratti dubartittiille duute.

³³ Amma, isaan torbaanuu niitumma'aan isii waan fuudhaneeranuuf, guyyaa du'aa ka'iisaa isiin eennuuf haadha manaa teeti ree?» jettee gaafatte.

³⁴ Yesuus deebisee, «Worri biyya lafa tanaa hin fuudha, hin heerumalle'e;

³⁵ worri du'aa ka'iisaa fi biyya lafaa ta dhuttu keessatti le'iisaaf malane ammoo, hin fuudhanu, hin heerumanulle'e.

³⁶ Isaan akka ergantoota Waaqaa waan te'aneef, deebi'anee hin du'an; waan du'aa ka'aneeranuufille ijoollee Waaqaa hin te'an.

³⁷ Muuseenuu, dabarsii marroo tusee gubattuu keessatti, Gootta'aan, «Waaqa Abrahaamii, Waaqa Yisihaii, Waaqa Yaaqoobii» jedhee waan waameef, worri du'ane akka du'aa ka'anu mudhiseera.

³⁸ Martinuu isaaf jiraataa waan te'aneef, inni Waaqa worra jiraata'aa ti malee Waaqa du'ootaati moti» isaaniin jedhe.

³⁹ Barsiisoti Seera Muuse'ee gariin deebisane, «Barsiisaa, dansaa dubbatte» jedhane.

⁴⁰ Achiin duuba isaan deebi'anee gaaffii dhibii isa gaafatiisaaf itti hin gamne.

Gaaffii Marroo Masiihii

(Mat. 22:41-46; Mar. 12:35-37)

⁴¹ Achiin duuba Yesuus, «Attamiin isaan, «Masiihiin‡ ilma Daawitii ti» jechu'uu dande'an?» jedhee isaan gaafate.

⁴²⁻⁴³ Daawiti ifiifuu kitaaba faaru'uu keessatti, «Goottaan Gootaa kiyyaan, «Haga ani diinota keeti ejjata miila keetii jala kewutti, midda kiyyatti tee'i» jedheera» jedhe.

⁴⁴ Daawiti, «Gootaa kiyya» jedhee yoo isa waame, attamiin Masiihiin ilma isaa te'a ree?» jedhe.

Yesuus Barsiisota Seera Muuse'ee Irraa Ifi Eggachiise

(Mat. 23:1-36; Mar. 12:38-40; Luq. 11:37-54)

⁴⁵ Kolbaan martinuu adoo dhage'iisatti jirtuu, Yesuus baratoota ifitiin,

⁴⁶ «Barsiisota Seera Muuse'ee, ka woyaa dhedheertuu uffatane asii fi achi ideemuu jaalatanu, addee dikko'ootitti nageya ulfinnaa akka isaan fuudhanu jaalatanu, Mana Waqonfannaa Yihudootaa keessatti barcumaa dansaa, lafa jilaattitille addee ulfinnaa filatanu irraa ifi eegadha'a!

⁴⁷ Isaan mana haadhotii hiyyeessaa sossanee, itti aalatiisaaf dheeressanee daadimatan. Mura hantu'utti isaanitti murama» jedhe.

21

Kennaa Haadha Hiyyeessaa

(Mar. 12:41-44)

¹ Galma Waaqaa keessatti dureeyyiin subba kennansi itti kuufamu keessa, kennansa ifii buuttuun, Yesuus midhatee dhagge.

² Haati hiyyeessaa hiyyeettiin takkalle saantimii sibiila diima'aa didiqqoo lamaan keessa buuttuun dhagge.

³ Inni, «Ani dhugumaan isinitti hima, haati hiyyeessaa hiyyeettiin tun isaan mara caalaa keessa buutte.

⁴ Isaan martinuu qabeenna isaan geyee hafe irraa keessa buusane; isiin ammoo adoo hiyyeetti'ituu, kama ittiin bultu maraa keessa buutte» jedhe.

‡ 20:41 Masiihiin: Kiristoos

Yesuus Diigamiisa Galma Waaqaa Dursee Dubbate
(Mat. 24:3-14; Mar. 13:1-13)

⁵ Barattooti gariin Galmi Waaqaa dhakoota dadansa'aa fi kennansa Waaqaaf kennameen attam akka seefame dubbatane. Yesuus ammoo,

⁶ «Wonni isin dhaggitanu kun maraa, dhakaan tokkolle wol irratti hin hafu; yennaan inni itti diigamu hin dhutti» jedhe.

Beessisa Bara Muumme'ee
(Mat. 24:3-14; Mar. 13:3-14)

⁷ Isaan, «Barsiisaa, kun yoom te'a? Wonni kun te'iisaaf akka dhikaate beekiisaaf beessisi te'uuf jiru maan?» jedhane gaafatane.

⁸ Yesuus deebisee, «Akka hin sobanne ifi eeggadha'a! Namooti hedduun, «Ani Kiristoos, Yennaalle dhikaateerti!» jedhaa maqaa kiyyaan hin dhufan. Isin ammoo isaan hin hordofina'a!

⁹ Woraanaa fi worraaqa kolba'aa yenna dhageettane hin sodaatina'a! Wonni akkasii kun dursee te'uu male; ammoo muummeen yoosuma hin teetu» jedhe.

¹⁰ Inni itti aansee, «Gosi gosatti, mootummaan mootumma'atti hin kaati;

¹¹ tacho'i lafaa guddaan, beeltii fi dhukkubi hamaan addee adde'etti hin te'an; wonni sodaachisuu fi beessisi gugurdaalle ol-gubbaa irraa hin mudhatan.

¹² Wonni kun maraa adoo hin te'in dura, isaan isin hin qaban, hin miidhan*; gara mana waaqonfannaa Yihudootaati fi mana hidha'aa dabarsanee isin hin kennan; sababa kiyyaaf fuula moototaati fi bulchitootaa dura isin hin geessan.

¹³ Kunille karaa dhugaa naa ittiin baatanu isiniif hin te'a.

¹⁴ «Maan jennee falmanna» jettanee akka hin yaanneef gadha'atti qabadha'a!

¹⁵ Worri isiniin falmu tokkolle, isin dura dhaabbatiisaaf, yookiin isiniin mormiisaaf ka hin dandeenne, waan dubbattanuu fi qarummaa, aninuu isiniif hin kenna.

¹⁶ Haadhoti'ii fi abbootiin, obboleeyyan, firoottanii fi lansooti teessanuu dabarsanee isin hin kennan; isin keessaa garii hin ijjeesan.

¹⁷ Nami martinuu sababa kiyyaaf isin hin jibba.

¹⁸ Ammoo rifeensi mataa keessanii tokkolle hin badu.

¹⁹ Isin ciniinnattanee ossatiisaan jiruu hin dhaggattan» isaaniin jedhe.

Yesuus Diigamiisaa Yerusaalemii Duraanuu Dubbate
(Mat. 24:15-21; Mar. 13:14-19)

²⁰ Yesuus itti aansee, «Yerusaalem loltootaan marfanteertuun yenna dhaggitane diigamuun isi'ii akka dhikaate hin beettan.

²¹ Yenna san worri Yihudaa keessa jiranu gara gaarotaatitti baqatanuu ti; worri qachaa keessa jiranulle keessaa bayanuu ti, worri baadiyyaa jiranulle qacha'atti hin deebi'in.

²² Guyyooti kun, ta barreeffante maraa akka muummottuuf, guyyoota adabbi'ii† ti.

²³ Guyyoota sanitti dubartoota ulfaatii fi hoosisaatiif aanne'e! Lafa tana irratti rakinni hamaan, kolbaa tana irrattille mufiin hin dhutti.

²⁴ Gariin shallaaga'aan hin du'an, kuun gara biyya maraa‡ hin booji'aman. Worri Yihudoota hin te'in haga yennaan isaanii muummottutti, Yerusaalem irra hin ejjatan» jedhe.

* **21:12** Miidhan: Ari'an **21:14** Luq. 12:11-12 † **21:22** Guyyoota adabbi'ii: Guyyoota haluu baafataa ‡ **21:24** Biyya maraa: Worra Yihudoota hin te'inii

Deebi'ee Dhufiisa Ilma Namaa
(*Mat. 24:29-31; Mar. 13:24-27*)

²⁵ Yesuus itti aansee, «Beessisi aduu, ji'aa fi urjoota irratti hin te'a. Bulpheessa abbaaya'aatii fi danbali'iitiin ka ka'e lafa irratti gosi duudiin sodaattee, waan gootu wollaalti.

²⁶ Hunnooti§ ol-gubba'aa waan raafamanuuf, kolbaan waan biyya lafaa irratti dhufaaruu sodaattee eegatiisaan hin gaggaddi.

²⁷ Achiin duuba Ilmi Namaa hunnaa fi ulfinna gudda'aan duumensa keessa dhufuun hin dhaggan.

²⁸ Kun maraa te'iisa yennaa jalqabu, fayyinni keessan waan dhikaa-teeruuf, ka'aa dhaabbadha'aatii mataa keessan ol qabadha'a» jedhe.

Barumsa Muka Harru'uu
(*Mat. 24:32-35; Mar. 13:28-31*)

²⁹ Achiin duuba Yesuus isaanitti mammaakee, «Muka harru'uutii fi mukoota maraa ilaala'a.

³⁰ Yennaa baalli isaanii quunxuun dhaggitane, bonni akka dhikaate beetan.

³¹ Maarre isinille, tun maraa teetuun yennaa dhaggitane, mootummaan Waaqaa akka dhikaatte beeka'a.

³² Ani dhugumaan isinitti hima, tun maraa haga muummottutti dhalooti kun hin taru.

³³ Ol-gubba'aa fi latti hin taran, Jechi kiyya ammoo ijjumaa hin taru» jedhe.

Dammaqa'aa Ifi Eegadha'a

³⁴ Yesuus itti aansee, «Akka malee nyaataa fi machi'iin yookiin jireenna lafa tanaatiif yaadaa, yennaa teessan balleessitanuun, guyyaan sun akka tiyyo'oo dedhuma akka isin hin qanne ifi eegadha'a!

³⁵ Guyyaan sun kolbaa lafa duudii irra leetu maraa irratti hin dhufa.

³⁶ Waan te'uuf jiru maraa jalaa bayiisaa fi Ilma Namaa dura dhaabbati-isaaf akka dandeettanu, ifi eegadha'aa, yennaa mara daadimadha'a!» jedhe.

³⁷ Yesuus guyyaa guyyaa Galma Waaqaa keessatti barsiisee, halkan halkan gara gaara ejersaa jedhamu gubbaa dhaqee bule.

³⁸ Kolbaan martinuu dubbii isaa caqasiisaaf barii halkaniin kaatee gara Galma Waaqaa dhaqaa turte.

22

Yesuus Ijjeesiisaaf Mari'atane
(*Mat. 26:1-5,14-16; Mar. 14:1-2,10-11; Yoh. 11:45-53*)

¹ Jilti Daabboo Uukoo Hin Qannee, ta Jila Irra Dabarama jedhantu dhikaateertiyyu.

² Sooreyyiin hayyootaatii fi barsiisoti Seera Muuse'ee kolbaa waan so-daataneehanuuf, karaa Yesuus ittiin ijjeesani barbaadane.

³ Achiin duuba Seexanni, barattoota kudhanii lamaan keessaa tokko ka te'e, Yihudaa nama biyya Keriyoootii seene.

⁴ Maarre Yihudaan dhaqee sooreyyii hayyootaatii fi qondaaltota* eed-duu Galma Waaqaa woliin attamiin akka Yesuus dabarsee isaaniif kennu mari'ate.

⁵ Isaan guddoo gammadanee beese isaaf kenniisaaf wolii galane.

⁶ Maarre Yihudaan wolii galee, addee gumiin hin jirretti Yesuus dabarsee isaaniif kenniisaaf, yennaa dagu'uu barbaadatiisatti ka'e.

§ 21:26 Hunnooti: Urjoota fa'a ilaala; Raaga Isaayaasii 34:4 21:37 Luq. 19:47 * 22:4 Qondaaltota: Dura aantota

*Qophii Sagalee Jila Irra Dabaramaa**(Mat. 26:17-30; Mar. 14:12-21; Yoh. 13:21-30)*

⁷ Achiin duuba guyyaan Jila Daabboo Uukoo Hin Qannee, ka hooleen Jila Irra Dabaramaa itti qalamuu qabu geye.

⁸ Yesuus Pheexroosii fi Yohaannisiin, «Sagalee Jila Irra Dabaramaa akka nyaannuuf, dhaqa'aatii nu'uuf qopheessa'a!» jedhee erge.

⁹ Isaan, «Eessatti akka qopheessinuuf barbaadda?» jedhanee isa gaafatane.

¹⁰ Inni deebisee, «Yennaa gara qacha'aa dhaxxanee seentane, nami tokko okkotee bisaanii ba'atee isin hin wolde'a; isa gula gara mana inni itti galuu dhaqa'a.

¹¹ Abbaa manaatiin, «Kolloon keessumma'aa ta ani barattoota tiyya woliin sagalee Jila Irra Dabaramaa keessatti nyaadhu eessa jirti? Si'iin jedha barsiisaan» jedha'a.

¹² Inni kolloo mana irraa badhoo, ta afantee meya manaatiin qophootte takka isinitti hin mudhisa. Achitti nu'uuf qopheessa'a!» jedheen.

¹³ Maarre isaan dhaqanee wonni maraa akkuma inni isaanitti hime tee-teertuun dhagganee, sagalee Jila Irra Dabaramaa qopheessane.

*Irbaata Goota'aa**(Mat. 26:26-30; Mar. 14:22-26; 1 Qor. 11:23-25)*

¹⁴ Saatiin geennaan, Yesuus ergantoota ifii woliin qori'itti hiiqee tee'e.

¹⁵ Inni isaaniin, «Ani adoo hin rakkatin dura sagalee Jila Irra Dabaramaa isin woliin nyaatiisaaf guddoo halcheera.

¹⁶ Ani isinitti hima, haga mootummaa Waaqaa keessatti muummottutti, ani deebi'ee sagalee Jila Irra Dabaramaa hin nyaadhu» jedhe.

¹⁷ Achiin duuba Yesuus muduunuu fuudhee, Waaqaaf galata galchee, «Hoo'aa, qoodama'a!

¹⁸ Ani isinitti hima, ammaan jalqabee haga mootummaan Waaqaa dhut-tutti midhaan woyni'ii[†] irraa hin unu» jedhe.

¹⁹ Xaltaa daabbo'oolle fuudhee, Waaqaaf galata galchee, cassee, «Kun foon kiyya, ka isiniif kenname; kana qaabbii tiyyaaf godhadha'a!» jedhaa isaanitti kenne.

²⁰ Akkasuma, sagalee galgalaatiin duuba muduunuu fuudhee, «Muduunuun tun dhiiga kiyya ka isinii dhangala'een, gondoaroo haareya.

²¹ Ammoo kunoo, harki nama na dabarsee kennuu na woliin qorii keessa jira!

²² Ilmi Namaa akkuma murtoottetti hin du'a; ammoo nama isa dabarsee kennu saniif aanne'e!» jedhe.

²³ Achiin duuba isaan, isaan keessaa waan kana ka godhu eennu akka te'e wol gagaafatane.

*Mormii Marroo Eentu Caala'aa**(Mat. 18:1-5; 20:24-28; Mar. 9:33-37; 10:41-45; Luq. 9:46-50)*

²⁴ Isaan keessalle'ee eentu akka caalu odduu isaaniititti wol mormiin kaate.

²⁵ Yesuus isaaniin, «Moototi worra Yihudoota hin te'inii kolbaa ifii hin mowan; bulchitooti isaaniille, «Bu'aa buuttuu kolba'aa» ifiin jedhan.

²⁶ Isin keessatti ammoo akkas hin te'in; isin keessaa caalaan akka maand-hichaa te'uu ti; sooressille akka tajaajila'aa te'uu ti.

²⁷ Ka caalu eennu? Ka sagalee areerratiisaaf tee'u moo, ka areeru? Ka areerratiisaaf tee'uu motii? Ani ammoo isin oddu'utti akka areertu'uu ti.

²⁸ Isin worra rakkinna kiyya keessatti na woliin turtane.

[†] 22:18 Midhaan woyni'ii: Yookiin daadhii midhaan woyni'ii irraa qophootte 22:25 Mat. 20:25-27; Mar. 10:42-44 22:27 Yoh. 13:12-15

²⁹ Akkuma abbaan kiyya ana mootonse, anille isin hin mootonsa.

³⁰ Mootummaa tiyya keessatti qorii tiyya keessaa hin nyaattan, hin untan, barcumaa mootumma'aa irra teettanee gosa Israa'elii kudhanii lama irrattille hin murtan» jedhe.

Mormatiisa Pheexroosii Yesuus Duraan Dursee Hime
(Mat. 26:30-35; Mar. 14:26-31; Yoh. 13:36-38)

³¹ Yesuus, «Simoon, Simoon, dhage'i! Seexanni isin maraa akka qamadi'ii wobansiisaaf gaafateera.

³² Ani ammoo dhugeeffannaan teeti akka hin banne si'iif daadimadheera. Atille yennaa gara kiyya deebite, obboleeyyan teeti jajjabeessi!» jedhe.

³³ Pheexroos ammoo, «Gootta'a, ani si woliin gara mana hidha'aa dhaqiisaa fi du'iisaafille qophoweera» jedhe.

³⁴ Yesuus deebisee, «Pheexroos, ani sitti hima, edanuma adoo lukkuun hin iyyin yennaa sadiin si hin beeku jettee na hin mormatta» jedheen.

Korojoo, Subbaa Fi Shallaagaa

³⁵ Achiin duuba Yesuus, «Korojoo, subba yookiin kophee adoo hin qabatin yennaa ani isin erge, wonni isinii dhidhatte jirti?» jedhee barattoota ifii gaafate.

Isaan deebisane, «Womaa hin dhidhanne!» jedhane.

³⁶ Yesuus isaaniin, «Amma ammoo, nami korojoo, yookiin subba qabu qabatu ti; nami shallaagaa hin qanne woyaa ifii gurguree shallaagaa bitatu ti.

³⁷ Ani isinitti hima, Barreeffam Woyyichi, «Yakkaameyyii woliin laakkowame» ka jedhu, na irratti muummowiisa qaba; dhugumaan marroo tiyyaaf ta barreeffantelle muummowisatti jirti» jedhe.

³⁸ Barattooti, «Ilaa, Gootta'a, shallaagaan lamaan as jira» jedhane.

Jennaan inni deebisee, «Hin geya!» jedhe.

Yesuus Gaara Ejersaa Irratti Daadimate

(Mat. 26:26-46; Mar. 14:32-42)

³⁹ Yesuus qachaa keessaa bayee, akkuma aadaa ifii gara Gaara Ejersaa dhage; barattooti isaalle isa woliin dhaqane.

⁴⁰ Addee san yennaa geye, isaaniin, «Ataabamiisatti akka hin galle daadimadha'a!» jedhe.

⁴¹ Achiin duuba haga golaansaa dhaka'aa isaan irraa fagaatee jilbiiffatee,

⁴² «Abba'a, yoo fedha keeti te'e, muduunuu rakkinnaa tana na irraa fuudhi; ammoo akka fedha kiyyaa adoo hin te'in, akka fedha keetii te'uu ti!» jedhee daadimate.

⁴³ Achiin duuba ergamaan ol-gubba'aa mudhatee isa jajjabeesse.

⁴⁴ Muddama ifii guddaa keessatti ittuma jabeessee daadimate; danfi isaalle akka coccopha dhiigaa lafatti gad roobe.

⁴⁵ Daadimata irraa ka'ee gara barattootaa yennaa deebi'ee dhage, gaddaan waan bututaneeranuuf rafaneeranuun dhagge.

⁴⁶ Inni isaaniin, «Maaf rattan? Akka ataabe'etti hin galle ka'a'aatii daadimadha'a!» jedhe.

Yesuus Qabame

(Mat. 26:47; Mar. 14:43-50; Yoh. 18:3-11)

⁴⁷ Adoo Yesuus tana dubbatiisatti jiruu, gumiin dhuttee biraan baate; barattoota kudhanii lama keessaa Yihudaa ka jedhamu isaan fidee, Yesuus sungatiisaaf itti dhikaate.

⁴⁸ Yesuus ammoo, «Yihuda'a, sunqatiisaan Ilma Namaa dabarsitee kenni-taa?» jedheen.

⁴⁹ Worri Yesuus woliin jiranu waan te'aaru yennaa dhaggane, «Gootta'a, shallaaga'aan dhoonnuu?» jedhane.

⁵⁰ Isaan keessaa tokkochi, tajaajilaa hayyicha gudda'aa dhowee, gurra middaa irraa kute.

⁵¹ Yesuus ammoo, «Lakkisa'a! Tun hin dabalamin» jedhee gurra namichaa qaqqabee fayyise.

⁵² Achiin duuba Yesuus sooreyyii hayyootaa, qondaaltota eedduu Galma Waaqaatii fi maanguddoota worra isa qabiisaaf dhufaneen, «Akka ani alagala'aa shallaaga'aa fi ulee-jirma qabattanee na qabiisaaf dhuttanee?

⁵³ Guyyuma guyya'aan isinuma woliin yennaa ani Galma Waaqaa keessa jiru, isin na hin qanne. Amma ammoo, saatiin tun teessanii fi ta hunni dukkanaa itti mootu» jedhe.

Pheexroos Yesuus Mormate

(Mat. 26:57-58,69-75; Mar. 14:53,54,66-72; Yoh. 18:12-18,25-27)

⁵⁴ Achiin duuba Yesuus qabaneen, fuudhanee deemanee gara mana hayyicha gudda'aa geessane. Pheexroos ammoo fagaatee isa hordofe.

⁵⁵ Yennaa isaan badhinna dalleyaa wodhakka'atti ibidda gabbisaneen wolitti dacha'aneen tee'ane, Pheexroosille isaan woliin tee'e.

⁵⁶ Intalti tajaajiltuun takka, ifa ibiddaa qarqara tee'eeruun isa dhaggitee, hubattee, «Namichi kunille isa woliin jiraayyu» jette.

⁵⁷ Inni ammoo, «Intaa, ani isa hin beeku» jedhee mormate.

⁵⁸ Yennaa diqqo'oon duuba nami dhibiin isa dhaggee, «Ati isaan keessaa tokko» jedhe.

Pheexroos ammoo, «Namicha, anaa moti!» jedhe.

⁵⁹ Gara saatii takka'aatiin duuba nami dhibiin, «Nama Galiila'aa waan te'eef, dhugumaan namichi kunille isaan woliin jiraayyu» jedhee itti jabeesse.

⁶⁰ Pheexroos ammoo, «Namicha, waan ati dubbatiisatti jirtu kana ani hin beeku!» jedhe. Adoo inni tana dubbatiisatti jiruu, lukkuun iyyite.

⁶¹ Gootaan garagalee Pheexroos ilaale. Achiin duuba Pheexroos Jecha Gootta'aa, ka duri inni isaan, «Edanuma adoo lukkuun hin iyyin yennaa sadiin na hin mormatta» jedhe qaabatee,

⁶² gad bayee laaleffatee bowe.

Yesuusitti Taphatanee Dhaanane

(Mat. 26:67-68; Mar. 14:65)

⁶³ Worri Yesuus qabaneen eegiiisatti jiranu itti taphatanee dhaanane.

⁶⁴ Ila isaa hidhanee, «Eentu si dhowe? Raagi me!» jedhaa isa gaafatane.

⁶⁵ Waan hedduu jedhaa isa arrassane.

Yesuus Kora Murti'ii Duratti Dhikaate

(Mat. 26:59-66; Mar. 14:55-64; Yoh. 18:19-26)

⁶⁶ Yennaa latti bariite maanguddooti kolba'aa, sooreyyiin hayyootaatiin fi barsiisoti Seera Muuse'ee wolitti qabamanee, Yesuus kora murti'ii duratti dhikeessane.

⁶⁷ Isaan, «Masiihiin si'ii? Nutti himi!» jedhane. Inni ammoo, «Yoo ani isinitti hime, hin dhugeeffattanu;

⁶⁸ yoo ani isin gaafadhelle naaf hin deebittanu.

⁶⁹ Ammoo Ilmi Namaa ammaa jalqabee, midda Waaqa waan mara dande'uutitti hin tee'a» jedheen.

⁷⁰ Isaan martinuu, «Ati Ilma Waaqaatii ree?» jedhane.

Inni deebisee, «Te'uu kiyya isinuu jettane» jedhe.

⁷¹ Jennaan isaan, «Nuutuu afaan isaa irraa dhageennee, dhugaa dhibii maaf barbaanna?» jedhane.

23

Yesuus Philaaxoos Duratti Dhikeeffame

(Mat. 27:1-2,11-14; Mar. 15:1-5; Yoh. 18:28-38)

¹ Achiin duuba worri kora murti'ii san keessa jiranu duudiin ol ka'anee, Yesuus Philaaxoos dura dhikeessane.

² Isaan, «Namichi kun kolbaa teenna jallisiisee, mootii worra Rooma'aatiif gibira gabbaruu dhooggee, ani Masiihii mooti'i ifiin jedhuun qanneerra» jedhaa isa himatiisatti ka'ane.

³ Philaaxoos, «Mootiin Yihudootaa si'ii?» jedhee isa gaafate.

Yesuus deebisee, «Maarre atuu jette» jedhe.

⁴ Achiin duuba Philaaxoos sooreyyii hayyootaati fi gumi'iin, «Ani nama kana irratti yakkaa tokkolle hin dhaggine» jedhe.

⁵ Isaan ammoo, «Inni biyya Yihuda'aa mara keessatti, Galiila'aa jalqabee haga asiitittille barsiisaa kolbaa teenna raasiisatti jira» jedhanee itti jabeessane.

Yesuus Heroodis Duratti Dhikeeffame

⁶ Philaaxoos tana yennaa dhage'e, nama Galiila'aa te'uu isaa gaafate.

⁷ Yesuus biyya Heroodis bulchu keessaa akka te'e yennaa hubate, gara Heroodisii isa erge; yennaa san Heroodis biyya Yersaaleemii keessa jira.

⁸ Heroodis yennaa hedduu dhaggiisaaf waan barbaadaa tureeruuf, yennaa Yesuus dhagge guddoo gammade. Marroo isaa waan dhage'eeruuf, bilbaasa garii inni hujjuun dhaggiisaaf addateera.

⁹ Heroodis gaaffii hedduu isa gaafate, inni ammoo womaa hin deebinne.

¹⁰ Sooreyyiin hayyootaati fi barsiisoti Seera Muuse'ee achi dhaabbatane, jabeessanee isa himatane.

¹¹ Heroodisii fi loltooti isaa Yesuus salphisane itti taphatane. Achiin duuba woyaa dansaa itti uffisane gara Philaaxoosii deebisane ergane.

¹² Heroodisii fi Philaaxoos ka duraan wolii diina te'anee turane, gaafuma san wolii jaalomane.

Yesuusitti Du'a Murane

(Mat. 27:15-26; Mar. 15:6-15; Yoh. 18:39–19:16)

¹³ Philaaxoos sooreyyii hayyootaa, sooreessitootaa fi kolbaa waamee,

¹⁴ «Namichi kun kolbaa jallisiisa jettanee, qaddanee gara kiyya fiddane; anille isinuma duratti isa qoree, waan isin isa himattane keessaa yakkaa tokkolle isa irratti hin dhaggine.

¹⁵ Heroodisille waan yakkaa isa irraa dhabeef deebisee nutti ergeera; akkuma dhaggitanu, waan muraa du'aatiin isa gewu tokkolle hujee hin jiru.

¹⁶ Tanaaf dhaansisee isa gad lakkisa» jedhe.

¹⁷ [Philaaxoos wogguma wogga'aan yennaa Jila Irra Dabaramaa worra hidhamane keessaa nama tokkocha kolba'aaf hiiku'uu male.]*

¹⁸ Gumiin duudiin, «Namicha kana balleessi! Barabbaa nu'uuf hiiki!» jettee itti hogitte.

¹⁹ Barabbaan qachaa keessatti waan nageya booresseeruu fi nama ijjeeseeruuf mana hidha'aatitti hidhamee ture.

²⁰ Philaaxoos Yesuus hiikiisaaf fedhee, ammalle gumi'iin dubbate.

* 23:17 Woraabbiin durii durii gariin laakkossa 17 hin qabu

²¹ Isaan ammoo, «Isa fannisi! Isa fannisi!» jedhanee ittuma hogisane.

²² Philaaxoos sadeessoo, «Maaf? Maan balleesse? Yakkaa muraa du'aatiin isa geettu isa irratti ani hin dhaggine. Tanaaf dhaansisee isa hiika» isaaniin jedhe.

²³ Isaan ammoo, akka inni fannifamuuf qoonqoo guddo'oon ittuma jabeessanee kadhatane; hogaan isaaniille milkowe.

²⁴ Maarre gaaffii isaaniitiif deebii kenniisaaf, Philaaxoos muraa kenne.

²⁵ Namicha nageya booressiisaa fi nama ijjeesiisaan hidhameeru, ka kolbaan gaafatte hiikee, akka fedha isaanii Yesuus dabarsee isaanitti kenne.

Yesuus Fannifame

(Mat. 27:32-44; Mar. 15:21-32; Yoh. 19:16-27)

²⁶ Adoo Yesuus geessanuu, nama biyya Qareena'aa ka Simoon jedhamu tokko baadiyya'aa galuun qabane, muka fannoo'oo ba'atee Yesuus faana akka deemuuf irra keyane.

²⁷ Gumiin guddoon Yesuus hordotte; gumii san keessa dubartooti qoma dhowataa isaaf boottulle jirti.

²⁸ Yesuus ammoo gara isaanii garagalee, «Dubartii Yerusaalemii, ifii fi ijoollee teessaniif bowa'a malee, naaf hin bowina'a!

²⁹ Sababille guyyooti isaan, «Maseenni, gadaamessi ijjumaa hin deyinii fi harmi hin hoosisin ka badhaadhane» jedhanu hin dhufan.

³⁰ Yennaa san isaan gaarotaan, «Nu irratti jiga'a!» koobotalle'een, «Nu dhossa'a!» hin jedhan.

³¹ Adoo muki bisile'eetuu yoo akkasi godhane, yennaa muki goge attam godhan ree?» jedhe.

³² Namoota yakkaameyyii lamaan dhibiille, ijjeesiisaaf Yesuus woliin geessane.

³³ Addee «Buqqii Mata'aa» jedhantu yennaa geyane, achitti Yesuus fan-nisane; yakkaameyyiille tokkocha midda isaatitti, kaan bitaa isaatitti fan-nisane.

³⁴ Yesuus ammoo, «Abba'a, isaan waan godhiisatti jiranu waan hin beenneef, isaaniif araarami!» jedhe†. Isaan carraa buufatiisaan woyaa isaa qoodamane.

³⁵ Kolbaan achi dhaabbattee ilaaliisatti jirtiyyu; bulchitootille itti taphatane, «Inni worra dhibii fayyiseera; Masiihii Waaqi filate yoo te'e ifi fayyisuu ti!» jedhane.

³⁶ Loltootille itti taphatane, daadhii woyni'ii dhangaggootuu isaaf ken-nanee,

³⁷ «Ati mootii Yihudootaa yoo teete, ifi fayyisi!» jedhane.

³⁸ Barreeffam, «Kun Mootii Yihudootaa ti» jedhu mataa isaatiin gubbaa jiraayyu.

³⁹ Yakkaameyyii achitti fannifamane keessaa tokkochi, «Ati Masiihii motii? Ifi fayyisi, nulle fayyisi!» jedhee isa arrasse.

⁴⁰ Yakkaamessi kuun ammoo, «Atille akkuma namicha kanaa muraa fudhatteerta, Waaqumalle hin sodaattuu ree?» jedhee isa xixe.

⁴¹ Achiin duuba, «Nuuti waan hunyeef waan dhaggatiisaaf malle waan dhaggataarruuf, dhuguma nutti murame; inni ammoo womaa hin yakki!» jedheen.

⁴² Achiin duuba Yesuusiin, «Yesuus, mootummaa teetiin yennaa dhuttu na qaabadhu!» jedhe.

† 23:34 Woraabbiin durii durii gariin hima kana hin qabu

⁴³ Yesuus deebisee, «Dhugumaan ani sitti hima, adhuma na woliin addee gammadaa‡ keessa hin jiraatta» jedheen.

Du'a Yesuusii

(*Mat. 27:45-56; Mar. 15:33-41; Yoh. 19:28-30*)

⁴⁴⁻⁴⁵ Orraa gara saatii jaatitti aduun ifa waan dhaddeef, latti duudiin dukkanoottee, haga saatii sagalii turte. Gollaan Galma Waaqaalle addee lamatti tarsa'e.

⁴⁶ Yesuus qoonqoo guddo'oon, «Abbaa kiyya, ani ayyaana kiyya harka keetitti kennadha!» jedhe. Inni kana jedhee du'e.

⁴⁷ Ajajaan dhibbaa waan te'e kana yennaa dhagge, «Namichi kun dhugumaan nama balcha'a» jedhee Waaqa galateeffate.

⁴⁸ Gumiin ilaaliisaaf achitti wolitti qabanteertu maraa waan te'e yennaa dhaggite, gaddaan qoma ifii dhodhowataa gara mana ifii galte.

⁴⁹ Worri isa beekanu maraa fi dubartooti Galiilaa irraa isa hordofane ammoo fagoo dhaabbatane, waan kana ilaaliisatti jiraniyyu.

Yesuus Awwaalame

(*Mat. 27:57-61; Mar. 15:42-47; Yoh. 19:38-42*)

⁵⁰⁻⁵¹ Namichi dansa'aa fi balchaan, ka mootummaa Waaqaa eeggatiisatti jiru, ka biyya Yihudootaa qachaa Armaatiya'aa keessaa dhufe, ka Yoseef jedhamu tokko jira. Inni miseensa kora murti'ii te'ulle mura'aa fi hujii isaaniititti wolii hin galin ture.

⁵² Inni gara Philaaxoosii dhaqee reeffa Yesuusii gaafate.

⁵³ Achiin duuba reeffa gad buusee woyaa qoolaan maree, boolla awwaalaa ka dhakaa keessatti bocamee qophoweru, ka nami ijjumaa itti hin awwaalam in keessatti awwaale.

⁵⁴ Guyyaan sun guyyaa Qophi'ii ti, Sanbatille seeniisaaf dhikaateera.

⁵⁵ Dubartooti Galiilaa irraa Yesuus woliin dhufane, Yoseef faana deemanee addee awwaalaatii fi akka reeffi Yesuusii itti awwaalame dhaggane.

⁵⁶ Achiin duuba gara manaa deebi'ane uddowa'aa fi fiqiree qopheessane. Guyyaa Sanbataa akka Seerri ajajutti foorfatane.

24

Yesuus Du'aa Ka'e

(*Mat. 28:1-10; Mar. 16:1-8; Yoh. 20:1-10*)

¹ Guyyaa Dilbataa* barii halkaniin dubartooti sun uddowaa qopheessi-teertu qabatee gara boolla awwaalaa dhaxxe.

² Dhakaan afaan boolla awwaalaa irraa gangalfameeruun dhaggane.

³ Boolla awwaalaa keessa yennaa seenane ammoo, reeffa Gootaa Yesuusii hin dhagine.

⁴ Isaan waan kana mamiisatti jiranuun, nami lamaan woyaa caccalaqqittu uffatee dedhuma cinaa isaanii dhaabbate.

⁵ Dubartooti guddoo sodaatanee gad lafa ilaalane; namooti sun ammoo, «Maaf jiraataa worra du'eeru odduu barbaaddan?

⁶ Inni as hin jiru, ka'eera. Galiilaa adoo jiruu waan inni isinitti hime qaabadha'a!

⁷ «Ilmi namaa harka cubbaalleyyi'ititti kennamee, fannifamee, guyyaa sadeesso'ootitti du'aa ka'uu male» jedhe» jedhaneen.

⁸ Achiin duuba waan Yesuus jedhe qaabatane.

‡ **23:43** Addee gammadaa: Jannata **23:49** Luq. 8:2-3 * **24:1** Guyyaa Dilbataa: Guyyaa jalqaba torbaanii **24:7** Mat. 16:21; 17:22-23; 20:18-19; Mar. 8:31; 9:31; 10:33-34; Luq. 9:22; 18:31-33

⁹ Addee awwaalaatii yennaa deebi'ane, waan kana maraa ergantoota kudhanii tokkoo fi worra kaan maratti himane.

¹⁰ Worri waan kana ergantootatti himane, Maariyaamii qachaa Magdala, Yo'anaa, Maariyaamii haadha Yaaqoobiitii fi dubartoota dhibi'i.

¹¹ Ergantooti ammoo dubbii hin teene seyanee, dubbii isaanii hin dhugeffanne.

¹² Pheexroos ammoo ka'ee gara boolla awwaalaa rukkise. Gad jedhee boolla awwaalaa keessa ilaalee, woyaa itti marane malee womaa hin dhaggine. Achiin duuba waan te'e kana baaseffataa gara manaa deebi'e.

Ideemiisa Gara Emahuusii
(Mar. 16:12-13)

¹³ Gaafuma san isaan keessaa nami lamaan gara ollaa Yerusaalemii irraa kiiloo meetira kudha tokko fagaatu, ka Emahuus jedhamuu dhaqiisatti jiraniyyu.

¹⁴ Isaan marroo waan te'e kana maraa haasowiisatti jiraniyyu.

¹⁵ Adoo isaan waan kana haasowaa mari'atanuu, Yesuus ifumaafuu dhufee biraan bayee, isaan woliin ideeme.

¹⁶ Ammoo akka isaan isa hin hubanne, ilti isaanii qabanteerti.

¹⁷ Yesuus isaaniin, «Wonni isin haasowaa ideentanu kun maan inni?» jedhe. Isaan fuula gaddaatiin achuma dhaabbatane.

¹⁸ Achiin duuba isaan keessaa Qileyophaa ka jedhamu tokko deebisee, «Yerusaalem keessatti nami keessummaan ka waan dhikoo tana achitti te'e hin beenne, si'uma calla'aa?» jedhe.

¹⁹ Inni, «Maan inni?» jedhee gaafate. Isaan deebisane, «Marroo Yesuusii nama Naaziretii, ka waan godhee fi waan dubbateen Waaqaa fi kolbaa mara duratti raagaa jabaa,

²⁰ ka sooreyyiin hayyootaati fi bulchitooti teenna akka du'uu fi fannifamu itti muranee dabarsanee kennane.

²¹ Nuuti ammoo ka Israa'el wodu isa jennee addii itti godhanneerra. Kana maraa irratti, wonni kun mara haga teeteen adhi guyyaa sadeesso'oo ti.

²² Dabalamaan, dubartooti golii teennaa nu maalalchaneeran; isaan adha barii halkaniin gara boolla awwaalaa dhaqaneeran;

²³ ammoo reeffa isaa hin dhaggine. Achii deebi'ane, ergantoota Waaqaa ta, «Inni hin jira» isaaniin jette akka mudhi'iin dhaggane nutti himane.

²⁴ «Worra nu woliin jiranu keessaa gariin gara boolla awwaalaa dhaqanee, akkuma dubartooti sun jedhane teeteertuun dhaggane; isa ammoo hin dhaggine» jedhane itti himane.

²⁵ Achiin duuba Yesuus isaaniin, «Isin attam attam gowwoole'e, waan raagoti jedhane maraa dhugeeffatiisaafille yaadi gadhaa keessanii attam attam hancara'a!

²⁶ Masihiin rakkinna kana maraa fudhatee ulfinna ifiititti galiisi, barbaachisa'aa motii ree?» jedhe.

²⁷ Yesuus achiin duuba kitaaba Muuse'eetii jalqabee kitaabota raagotaa mara keessatti, marroo isaatiif waan Barreeffam Woyyichi dubbatu maraa isaaniif hiike.

²⁸ Gara ollaa itti dhaqiisatti jiranuu yennaa dhikaatane, Yesuus akka waan dabaree ideemuu te'e.

²⁹ Isaan ammoo, «Latti galgaloottee, waan dhiyiisatti jirtuuf, nu woliin buli!» jedhane jabeessanee isa kadhatane. Maarre inni isaan woliin buliisaaf gara manaa seene.

³⁰ Isaan woliin qori'itti hiiqee yennaa tee'e, daabboo fuudhee eebbisee, cassee isaaniif kenne.

³¹ Achiin duuba ilti isaanii banantee, isa hubatane; inni ammoo ila isaanii duraa miliqe.

³² Isaan wol woliin, «Yennaa inni kara'atti nu woliin haasowee fi Barreeffama Woyyicha nu'uuf hiike, gadhaan keenna hin gubannee?» jedhane.

³³ Isaan yennuma san ka'anee gara Yersaaleemii deebi'ane. Achitti baratoota kudhanii tokkoo fi worra isaan woliin jiranu wolitti qabamaneer-anuun dhagganee,

³⁴ «Gootaan dhugumaan du'aa ka'eera, Simoonille'etti mudhateera!» jedhane.

³⁵ Achiin duuba jarri lamaan waan kara'atti te'e maraa fi yennaa Gootaan daabboo casse attam akka isa beekane himane.

Yesuus Barattoota Ifititti Mudhate

(*Mat. 28:16-20; Mar. 16:14-18; Yoh. 20:19-23; HuE. 1:6-8*)

³⁶ Adoo jarri lamaan sun waan kana himiisatti jiranuu, Yesuus ifumaafuu isaan odduu dhaabbatee, «Nageenni isiniif te'u!» isaaniin jedhe.

³⁷ Isaan waan ekeraa dhaggane seyanee, sodaatanee bararaqane.

³⁸ Yesuus ammoo, «Maaf sodaattan? Gadhaa keessan keessatti maaf man-tan?»

³⁹ Harka kiyyaa fi miila kiyya ilaala'a, anumaayyuu dhagga'a. Qaqqaba'aatii na ilaala'a; ekeraan foonii fi lafee hin qaddu, akkuma dhaggitanu ani hin qaba» jedhe.

⁴⁰ Yesuus tana jedhee harkaa fi miila ifii isaanitti mudhise.

⁴¹ Isaan gammadaa fi baaseffataan waan guutamaneeranuuf ammalle dhugeeffatiisa dhabanee jennaan, «Waan nyaataa asii qaddanii?» jedhee isaan gaafate.

⁴² Isaan qurxummii woddante diqqoo takka itti kennane;

⁴³ innille fuudhee fuula isaanii duratti nyaate.

⁴⁴ Achiin duuba Yesuus isaaniin, «Yennaa isin woliin jiru, Seera Muuse'ee, Kitaaba Raagotaatii fi Kitaaba Faaru'uu keessatti marroo tiyyaaf ta barreeffante maraa muummowu'uu malte, jedhee ta ani isinitti hime tana» jedhe.

⁴⁵ Achiin duuba inni Barreeffama Woyyicha akka hubatanuuf qalbii isaanii bane.

⁴⁶ Inni isaaniin, «Masihiin akka rakkatuu fi guyyaa sadeesso'oo du'aa akka ka'u,

⁴⁷ cubbuu irraa deebi'iisaa fi araarri cubbu'uu maqaa isaatiin Yersaaleemii jalqabee gosa maraaf akka lallabamu barreeffameera.

⁴⁸ Isin waan kanaaf dhugaa-baatota.

⁴⁹ Kunoo, waan Abbaan kiyya addii isinii kenne ani isiniif hin erga; ammoo haga hunna gubbaa irraa dhaggattanutti† qachaa Yersaaleemii keessa tura'a» jedhe.

Yesuus Gara Ol-Gubba'aa Deebi'e

(*Mar. 16:19,20; HuE. 1:9-11*)

⁵⁰ Achiin duuba Yesuus qachaa keessaa baasee, haga Bitaniya'aa isaan geesse; achitti harka ifii lamaanuu ol kaasee isaan eebbise.

⁵¹ Adoo isaan eebbisiisatti jiruu, isaan irraa gargar bayee gara ol-gubba'aa fudhatame.

⁵² Isaan isaaf sagadane, gammachuu gudda'aan gara Yersaaleemii deebi'ane,

⁵³ yennaa mara Galma Waaqaa keessatti Waaqa galateeffataa turane.

† 24:49 Dhaggattanutti: Yookiin uffattanutti 24:51 HuE. 1:9-11

Wongeela Goottaa Keenna Yesuus Kiristoosii Ka Yohaannis Barreesse Seensa

Wongeelli Yohaannisii Jechi Waaqaa jiraataan akka, «Nama te'ee wod-hakkaa teenna le'eetitti» Yesuus dhiyeessa. Kitaabummaan kunuu akkuma jedhu, Wongeelli kun ka barreeffame, worri isa dubbisu, fayyisaa te'ee dhufa ka jedhame Yesuus Ilma Waaqaa akka te'e dhugeeffatiisaan jiruu akka qabaatanu (20:31).

Kutaan Wongeela kanaa ka qaraa Jechi Waaqaa jiraata'aa fi Yesuus tokko te'iisa isaanii akka seensaatitti dhikeesseen duuba, fayyisaan hin dhufa jedhame Yesuus, Ilma Waaqaa te'uu isaa ka mudhisu bilbaasota adda addaa dhikeessa; kanaan duuba bilbaasota kana irraa bu'aan dhaggame maan akka te'e dabarsiin hintu itti aanti. Kutuma Kitaabuma kanaa keessatti kolbaan gariin attam akka Yesuusitti dhugeeffattee worra isa hordofu teete, worri dhibiin isa mormee itti dhugeeffatiisa akka dide hinti. Fooroti 13-17 Yesuus halkan itti qabame barattoota ifii woliin lansummaa guddoo akka qabuu fi yennaa fannifamiisi isaa geette, dubbii isaan qopheessituu fi jaj-jabeessitu akka itti dubbate dubbatan. Fooroti dhumaa marroo qabamiisaa fi mura'aaf dhikaatiisa Yesuusii, marroo fannifamiisaa fi du'aa ka'iisa isaa, akkasuma du'aa ka'een duuba barattoota ifititti marroo mudhatiisa isaa dubbatan.

Dabarsii dubartii gaarayyeeffattuun qabantee (8:1-11) barreeffam duriitii fi hiikkaan durii durii hedduun waan hambisaneeranuuf, worri dhibiin addee dhibi'itti waan galchaneeranuuf dalleya keessa keyante.

Yohaannis marroo jiruu bara baraa ta karaa Yesuus Kiristoosiitiin dhag-gantuu ifa godhee mudhisa; jiruun bara baraa ta kennansaan dhaggantu tun jiruu ammaa tanaanuu ta jalqaddu yennaa teetu, worri jiruu tana fudhatu worra akka Yesuus karaa, dhuga'aa fi jiruu te'e mirkaneessu. Wongeela Yohaannisii wongeelota dhibii irraa ka adda godhu, dhugaa Ayyaantittii tana himiisaaf waan le'ii teenna ta guyyaa guyya'aa keessatti baratame waan akka bisaanii, waan akka daabbo'oo, waan akka ifaa, waan akka tisse'ee fi hoole'ee, waan akka muka woyni'iitii fi midhaan woyni'ii akka fakkeenfaatitti itti gargaarama.

Haadhoo Dubbi'ii

Jalqaba 1:1-18

Yohaannisii cuupha'aa fi barattoota Yesuusii ta qaraa 1:19-51

Tajaajila Yesuusii 2:1–12:50

Guyyoota dhumaa Yerusaleem keessaa fi adaalatti 13:1–19:42

Du'aa ka'iisaa fi mudhatiisa Gootta'aa 20:1-31

Muummee Irratti: Yennaa dhibii Galiilaa keessatti mudhate 21:1-25

Jecha Jiru'uu

¹ Biyyi lafaa dadamiisaan duraayyuu, Jechi jira; Jechille Waaqa woliin jira; Jechinuu Waaqumaayyu.

² Inni jalqabumaa Waaqa woliin jira.

³ Waaqi karaa isaatiin waan maraa dade; dada maraa keessaa tokkolle isaan malee hin dadanne.

⁴ Isa keessa jiru'utti jira; jiruun sun ifa namootaa ti.

⁵ Ifi dukkanatti ifa; dukkanti ijjumaa ifa hin injifattu.

- ⁶ Nami Waaqa biraa ergame, ka Yohaannis jedhamu tokko jiraayyu.
- ⁷ Inni nami martinuu dubbii isaa dhage'ee akka dhugeeffatu, marroo ifa sanii kolba'atti himiisaaf dhufe.
- ⁸ Inni marroo ifa sanii himiisaaf dhufe malee, ifiif ifaa moti.
- ⁹ Ifi gara biyya lafaa dhufee nama maraaf issu sun ifa dhuga'aa ti.
- ¹⁰ Inni biyya lafaa keessa jiraayyu; Waaqi karaa isaatiin biyya lafaa dade; biyyi lafaa ammoo isa hin beenne.
- ¹¹ Inni gara biyya ifii dhufe; kolbaan isaa ammoo isa hin fudhanne.
- ¹² Te'uu malee, worra isa fudhatee itti dhugeeffate maraaf, akka ijoollee Waaqaa te'anuuf midda* kenne.
- ¹³ Isaan Waaqa irraa dhalatane malee, fedha dhiiraa irraa yookiin fedha foonii irraa yookiin fedha dhiigaa irraa hin dhalanne.
- ¹⁴ Jechi nama te'ee, badhaadhaa fi dhuga'aan guutamee, odduu teenna le'e. Nuuti ulfinna inni akka Ilma Abba'aaf tokkochaatitti fudhate dhaggine.
- ¹⁵ Yohaannis, «Ka ana duubaan dhufu, adoo ani hin dhalatinuu waan jiruuf, inni guddoo na caala» jedhee ka ani dubbadhe isa» jedhee iyyee dhugaa baye.
- ¹⁶ Guutummaa badhaadha ifii irraa inni nu maraa eebbisee, eebba irratti eebba dhibii dabalee nuu kenne.
- ¹⁷ Waaqi karaa Muuse'eetiin seera kenne; badhaadhaa fi dhugaan ammoo karaa Yesuus Kiristoosiitiin dhutte.
- ¹⁸ Ka Waaqa dhaggeeru tokkolle ijumaa hin jiru. Ilmi tokkochi isaa Waaqi, ka cinaa Abba'aa jirutti isa mudhise.

Dhugaa Bayiisa Yohaannisii Cuupha'aa
(Mat. 3:1-12; Mar. 1:1-8; Luq. 3:1-18)

- ¹⁹ Yihudooti baallii qabanu hayyootaa fi Lewwoota garii, «Ati eennuu?» jedhanee akka isa gaafatanu Yerusaleem irraa gara Yohaannisii ergane.
- ²⁰ Yohaannis, «Ani Masiihii moti» jedhee dubbatee dhugaa baase malee, deebisiisaaf hin didanne.
- ²¹ Isaan, «Ati eennu ree? Ati Eliyaasii» jedhanee isa gaafatane. Yohaannis, «Waawwoo ani isaa moti» jedhee deebise. Isaan, «Ati Raagichaa ree» jedhanee gaafatane. Inni, «Waawwoo» jedhee deebise.
- ²² Isaan, «Ati eennu ree? Worra nu ergeef deebii deebinne himuu qanna. Ati eennu ifiin jetta?» jedhaneen.
- ²³ Yohaannis deebisee, «Isaayaasiin raagichi akkuma dubbate, ani «Qoonqoo nama daandii Gootaan irra ideemu qajeelcha'a» jedhaa, lafa goomole'ee keessaa iyyuu ti» jedhe.
- ²⁴ Ergantooti Fariisaayotaan ergamane,
- ²⁵ «Ati Masiihii yookiin Eliyaas yookiin Raagicha yoo hin te'in maaf cuuxxa ree?» jedhanee Yohaannis gaafatane.
- ²⁶ Yohaannis, «Ani bisaaniin isin cuupha, ka isin hin beenne ammoo odduu teessan dhaabbata.
- ²⁷ Inni na duubaan dhufaara; ani hidhaa kophee isaa hiiku'uuffille nama malee moti» jedhee deebise.
- ²⁸ Wonni kun marti laga Yordaanosiitiin gama karaa aduun baatu Bit-taaniya'atti, addee Yohaannis itti cuuphiisatti jirutti teete.

Hoolee Waaqaa

- ²⁹ Boruyyaa Yohaannis, Yesuus gara isaa dhufuun dhaggee, «Kunoo! Hooleen Waaqaa, ka cubbuu biyya lafaa balleessu.

³⁰ Ka ani, «Ka ana duubaa dhufu, adoo ani hin dhalatinuu waan jiruuf, inni na caala» ka ani jedhe isaa kana.

³¹ Aninuu inni eennu akka te'u hin beenne; ammoo akka inni kolbaa Israa'eliititti mudhatuuf, ani bisaaniin cuuphaa dhufe» jedhe.

³² Yohaannis dhugaa bayee, «Ayyaanni Woyyichi akka saphaliisaa ol-gubba'aa gad dhufee isa irra bu'ee hafuun dhaggeera.

³³ Aninuu isa hin beenne, Waaqi akka ani bisaaniin cuuphuuf na erge ammoo, «Ka Ayyaana Woyyichaan cuuphu, Ka Ayyaanni Woyyichi isa irra bu'ee hafuun ati dhaggitu» anaan jedheera.

³⁴ Anille waan kana dhaggeera, inni Ilma Waaqaa akka te'e isinitti hima» jedhe.

Barattoota Yesuusii Ta Jalqabaa

³⁵ Guyyaa itti aanu Yohaannis ammalle barattoota ifii lamaan woliin dhaabbatiisatti jiruun,

³⁶ yenna Yesuus achiin dabaru dhaggee, «Kunoo, hooleen Waaqaa!» jedhe.

³⁷ Barattooti Yohaannisii lamaan dubbii Yohaannisii tana dhage'anee, Yesuus hordofane.

³⁸ Yesuus garagalee, isaan isa hordofanuun dhaggee, «Maan barbaaddan?» jedhee isaan gaafate.

Isaan ammoo, «Rabbii, eessa leeta?» jedhaneen; «Rabbii» jechuun, «Barsiisaa» jechu'u.

³⁹ Yesuus, «Kowa'aatii ilaala'a!» isaaniin jedhe. Maarre isaan dhaqanee addee Yesuus le'u dhagganee, guyyaa san isa bira oolane; yennaan sun saafowa gara saatii kudhanii ti.

⁴⁰ Barattoota dubbii Yohaannis dubbate dhage'anee Yesuus hordofane keessaa tokkochi, Indiryaasii obboleessa Simoon Pheexroosii ti.

⁴¹ Indiryaas dursee obboleessa ifii Simoon dhaggee, «Masiihii dhaggi-neerra» jedhee itti hime; «Masiihii» jechuun, «Kiristoos» jechu'u.

⁴² Achiin duuba Indiryaas Simoon gara Yesuusii geesse.

Yesuus isa ilaalee, «Ati Simoonii ilma Yohaannisii ti; ammoo haganaa achi, «Keefaas» jedhantee waamanta» jedheen; «Keefaas» jechuun afaan Giriiki-itiin, «Pheexroos» jechu'u; Pheexroos jechuun, «Rassaa» jechu'u.

Yesuus Filiphosii fi Naataanaa'el Waame

⁴³ Guyyaa itti aanu Yesuus Galiilaa dhaqiisaaf murteeffate. Inni Filiphos dhaggee, «Ana hordofi!» jedheen.

⁴⁴ Filiphos akkuma Indiryaasiitii fi Pheexroosii, nama qachaa Bet-sayda'aa ti.

⁴⁵ Filiphos Naataanaa'el dhaggee, «Nuuti ka Muuseen kitaaba seeraa keessatti marroo isaa barreesse, ka raagotille marroo isaa barreessane dhaggineerra. Inni nama biyya Naaziretii, Yesuusii ilma Yoseefii ti» jedheen.

⁴⁶ Naataanaa'el, «Naaziret keessaa wonni dansaan dhaggamuu dandeettii?» jedhee Filiphos gaafate.

Filiphos, «Koyiitii ilaali!» jedhee deebise.

⁴⁷ Yesuus yenna Naataanaa'el gara isaa dhufuun dhagge, «Kunoo, nami dhugumaan Israa'elichi, ka dharti tokkolle isa keessa hin jirre!» jedhee marroo isaa dubbate.

⁴⁸ Naataanaa'el, «Eessatti na beetta?» jedhee gaafate.

Yesuus, «Filiphos adoo si hin waaminuu, muka harru'uu jala jirtuunuu si dhagge» jedheen.

⁴⁹ Naataanaa'el, «Barsiisa'a, ati Ilma Waaqaa ti! Ati mootii Israa'elii ti!» jedhee deebise.

⁵⁰ Yesuus, «Yennaa ati muka harru'uu jala jirtuu si dhagge waan ani jedheef dhugeeffataa? Ati waan guddoo kana caaluu hin dhaggita» jedhe.

⁵¹ Yesuus itti dabalee, «Dhugaa isinitti hima: Ol-gubbaan banantee, ergan-tooti Waaqaa Ilma Namaa irra ol bayaa gad buutuun hin dhaggitan» jedheen.

2

Fuudhaa Fi Heeruma Qachaa Qaana'aa

¹ Guyyaa sadeesso'oo qachaa Qaana'aa ka lafa Galiila'aa keessa fuudhaa fi heerumatti jiraayyu. Haati Yesuusiille achi jirtiyyu.

² Yesuusii fi barattooti isaalle gara fuudhaa fi heeruma sanii waamama-neeran.

³ Yennaa daadhiin woyni'ii dhumatte, haati Yesuusii, «Daadhii woyni'ii isaan duraa dhumatte» Yesuusiin jette.

⁴ Yesuus, «Aayyaa, waan huju natti himu'uuf hin malle; yennaan tiyya ammalle hin geenne» jedhee deebise.

⁵ Achiin duuba haati Yesuusii, «Waan inni isinitti himu godha'a» jettee tajaajiltootatti hinte.

⁶ Yihudooti aadaa dhugeeffanna'aa ka ittiin ifi qulleessanu waan qabanuuf, okkotooti gugurdoon dhakaa irraa hujante jaan achi jirtiyyu; tokko tokkoon isaanii gara litirii saddeettamaa haga litirii dhibbaa fi diddamaa qabuu dande'an.

⁷ Yesuus tajaajiltootaan, «Okkotoota san bisaaniin guuta'a» jedhe. Isaanille haga afaanii guutane.

⁸ Achiin duuba inni isaanii, «Amma budduussa'aatii, itti gaafatamaa jilaatitti geessa'a» jedhe. Isaanille isaaf geessane.

⁹ Itti gaafatamaan jilaalle bisaan daadhii woyni'ii te'e san fiixxisee ilaale. Tajaajiltooti worri bisaan budduusse beekanuu malee, inni daadhiin woyni'ii tun eessaa akka dhutte hin beenne; maarre inni waajibicha waamee,

¹⁰ «Nami marti dursee daadhii dansaa namaa kennee, keessummooti untee quutteen duuba daadhii calcala namaa kenna. Ati ammoo daadhii dansittii haga ammaa tursite!» jedheen.

¹¹ Yesuus qachaa Qaana'aa ka lafa Galiila'aa keessatti bilbaasa qaraa kana huje; achitti ulfinna ifi mudhisee, barattooti isaalle isatti dhugeeffatane.

¹² Kanaan duuba, Yesuus haadha ifi, obboleeyyanii fi barattoota ifi woliin gara Qifirnaahoomii dhage; isaan guyyoota diqqaa achi turane.

Yesuus Gara Galma Waaqaa Dhage

(Mat. 21:12-13; Mar. 11:15-17; Luq. 19:45-46)

¹³ Guyyaan Jila Irra Dabaramaa dhikaateeruun, Yesuus gara Yersaaleemii dhage.

¹⁴ Achitti inni Galma Waaqaa keessatti kolbaa loon, hoole'ee fi saphaliisa gurgurattu, worra beese jijjiiratulle xarapheessaa isaanii bira tee'iisatti jiranuun dhagge.

¹⁵ Maarre inni lichee wodaro'oo dhowatee, isaan maraa, hoole'ee fi loon, horii maraayyu Galma Waaqaa keessaa gad oofe; inni xarapheessaa worra beese jijjiiratu garaggagalchee beese isaaniille bittinneesse.

¹⁶ Worra saphaliisa gurguratu saniin, «Waan kana as keessaa gad baasa'a! Mana Abbaa kiyyaa addee dikko'oo hin godhina'a!» jedhee ajaje.

¹⁷ Barattooti isaa, «Hinaaffaan mana keetii, akka ibiddaa na guddi» jedhantee ta barreeffante san qaabatane.

¹⁸ Yihudooti baallii qabanu, «Ati waan kana godhiisaaf baallii akka qaddu nu'utti mudhisiisaaf bilbaasa maan godhuu dandeetta?» jedhanee isa gaafatane.

¹⁹ Yesuus, «Galma Waaqaa kana diiga'a! Ani guyyaa sad keessatti deebisee hin ijaaraa» jedhee deebise.

²⁰ Yihudooti baallii qabanu, «Galma kana ijaariisaaf woggaa afurtamii jaa fixeera, ati guyyaa sad keessatti deebittee ijaartaa?» jedhanee isa gaafatane.

²¹ Galmi Waaqaa ka Yesuus dubbate sun nafuma Yesuusii ti.

²² Maarre inni du'aa ka'een duuba, barattooti isaa akka inni tana dubbate qaabatanee, Barreeffama Woyyichaa fi waan Yesuus dubbate dhugeeffatane.

Yesuus Yaada Namaa Mara Beeka

²³ Yennaa Jila Irra Dabaramaa Yesuus Yerusaalem keessa jiruun, namooti hedduun bilbaasa inni godhe dhagganee isatti dhugeeffatane.

²⁴ Yesuus ammoo namoota maraa waan beekuuf, isaan hin addanne.

²⁵ Inni ififuu waan gadhaa namaa keessa jiru waan beekuuf, marroo namootaa akka isatti himu nami tokkolle hin barbaachinne.

3

Yesuusii Fi Niqoodemoos

¹ Gosa Fariisaayotaa keessaa soressi Yihudootaa, ka Niqoodemoos jedhamu tokko jiraayyu.

² Inni halkan tokko gara Yesuusii dhaqee, «Barsiisa'a, akka ati barsiisaa Waaqa biraa ergame teete beenneerra. Yoo Waaqi isa woliin jiraate malee bilbaasa ati hujattu kana eennulle dande'ee hin huju» jedheen.

³ Yesuus, «Ani dhugaa sitti hima; eennulle yoo lammeessoo* hin dhalatin mootummaa Waaqaa dhagguu hin dande'u» jedhee deebise.

⁴ Niqoodemoos, «Nami guddateen duuba attam dhalatuu dande'a? Lammeessoo gadaamessa haadha ifii seenee dhalatuu hin dande'aa?» jedhee Yesuus gaafate.

⁵ Yesuus deebisee, «Ani dhugaa sitti hima, eennulle bisaanii fi Ayyaana Woyyichaan yoo hin dhalatin, mootummaa Waaqaatitti galuu hin dande'u.

⁶ Nama foonii irraa ka dhalate foon; ka Ayyaana irraa dhalate ammoo Ayyaana.

⁷ Waan ani, «Lammeessoo dhalatuu qaddan» si'iin jedheef hin masoonfatin.

⁸ Bubbeen gara feete bubbitti; ati bubbisiisa isi'ii hin dhageetta, ammoo eessaa akka dhuttu yookiin eessa akka deentu hin beettu. Ayyaana irraa ka dhalate maraayyuu akkasuma» jedhee deebise.

⁹ Niqoodemoos, «Kun attam te'uu dande'a?» jedhee Yesuus gaafate.

¹⁰ Yesuus, «Ati barsiisaa Israa'elii teetee waan kana hin beettuu?

¹¹ Ani dhugaa si'itti hima: Nuuti waan beennu dubbanna; waan dhaggine dhugaa baana; isin ammoo dhugaa bayiisa keenna hin fudhattanu.

¹² Yennaa ani marroo waan biyya lafa tanaa isinitti himu yoo hin dhugeeffatin, yennaa ani marroo waan ol-gubba'aa isinitti himu attamiin dhugeeffattan ree?

¹³ Ilma Namaa ka ol-gubba'aa gad dhufe malee, ka gara ol-gubba'aa ol baye eennulle hin jiru.

¹⁴ «Akkuma Muuseen lafa goomole'ee keessatti dhudhuufaa sageettu'uu dongoraa irratti ol fuudhe rarraase, akkasuma Ilmi Namaalle ol fuudhamee rarraafamuu qaba.

¹⁵ Kunille ka isatti dhugeeffatu maraa jiruu bara baraa akka qabaatuuf.

¹⁶ Nami isatti dhugeeffatu maraa jiruu bara baraa akka qabaatu malee akka hin banneef, Waaqi biyya lafaa guddoo waan jaalatuuf ilma ifii tokkochuma san kenne.

¹⁷ Biyya lafaa karaa isaatiin akka fayyisuuf malee, akka itti muruuf Waaqi ilma ifii gara biyya lafaa hin ergine.

¹⁸ «Ka ilma isaatitti dhugeeffatutti hin murantu; ka isatti hin dhugeeffanne ammoo, waan inni ilma Waaqaa tokkochatti hin dhugeeffatiniif, ammu-maayyuu itti muranteerti.

¹⁹ Muraalleen kunoo tana: Ifi gara biyya lafaa dhufe, namooti ammoo hujiin isaanii hantuu waan teeteef, ifa caalaa dukkana jaalatane.

²⁰ Ka waan hantuu godhu marti ifa jibba; hujiin isaa hantuun akka hin mudhanneef gara ifaa hin dhufu.

²¹ Ka waan dhuga'aa godhu marti ammoo hujiin inni Waaqaaf ajajami-isaan huje san akka ifi mudhisuuf gara ifaa dhufa» jedheen.

Yohaannisiiin Cuuphaan Marroo Yesuusii Dhugaa Baye

²² Kanaan duuba Yesuusii fi barattooti isaa gara lafa Yihuda'aa dhaqane; inni isaan waliin diqqoo achi bubbulee, kolbaalle cuuphe.

²³ Addee Enon jedhantu ta Saalemitti dhiko'oo, bisaan guddaan waan jiruuf Yohaannis achille'etti cuuphe. Kolbaalle gara isaa dhaqaa cuuphamaa turte.

²⁴ Yennaa san Yohaannis hidhamee hin jiru.

²⁵ Barattooti Yohaannisii gariin marroo aadaa qulqulloomiisaa Yihudicha tokko waliin wol mormiisatti ka'ane.

²⁶ Maarre isaan gara Yohaannisii dhaqanee, «Barsiisa'a, namichi Yordaanosiin gamatti si waliin jiru, ka ati marroo isaa dhugaa baate, kunoo amma cuuphiisatti jira; nami marti gara isaa dhaqiisatti jira!» jedhanee itti himane.

²⁷ Yohaannis deebisee, «Waaqi yoo kenneef malee, eennulle waan tokkole hin qabaatu.

²⁸ «Ani Kiristoosii moti; ammoo isaan dura ergameeraa» akka ani jedhe isinuu dhugaa tiyya.

²⁹ Ka waajibittii qabu waajibicha; jaalli waajibichaa, ka isa bira dhaabbatee qoonqoo isaa caqasu ammoo, yennaa qoonqoo waajibichaa dhage'u hin gammada. Gammadi sun kiyya; inni amma muummowe.

³⁰ Inni guddaa te'ee, ani diqqaa te'uu qaba.

Ka Ol-Gubba'aa Dhufu

³¹ «Ka ol-gubba'aa dhufu mara caala. Ka lafa tanaa kama lafa tanaa ti; waan lafaalle dubbata; ka ol-gubba'aa dhufu ammoo mara caala.

³² Inni waan dhaggee fi waan dhage'e dhugaa baya; ammoo dhugaa baya isaa ka fudhatu hin jiru.

³³ Nami dhugaa baya isaa fudhate ammoo, Waaqi dhugaammessa akka te'e kanaan mirkaneesse.

³⁴ Waaqi Ayyaana ifii safara male waan kennuuf, ka Waaqi erge dubbii Waaqaa dubbata.

³⁵ Abbaan ilma jaalata; waan maralle harka isaatitti kenneera.

³⁶ Ka ilmatti dhugeeffatu mara jiruu bara baraa qaba; ka ilma Waaqaatiif hin ajajanne ammoo mufii Waaqaa jala jiraata malee, jiruu hin qabaatu» jedhe.

4

Yesuusii Fi Dubartii Samaariya'aa

¹ Yesuus Yohaannis caalaa barattoota akka dabalatiisatti jiruu fi cuuphiisatti jiru worri Fariisaayotaa dhage'ane.

² Te'uu malee, ka cuuphe barattoota isaa ti malee, Yesuusii moti.

³ Maarre Yesuus waan jedhamiisatti jiru yennaa dhage'e, biyya Yihuda'aa lakkisee deebi'ee gara Galiila'aa dhaqe.

⁴ Inni Yennaa achi dhaqu Samaariyaa keessa dabaruu qabaayyu.

⁵ Maarre Samaariyaa keessatti inni gara qachaa Siikaar jedhamuu, ka fichaa Yaaqoob ilma ifii Yoseefiif kennetti dhikaatuu tokko dhufe.

⁶ Boolli bisaanii ta Yaaqoobii achi jirtiiyyu; Yesuus ideemiisaan dadhabee boolla bisaanii bira tee'e. Yennaan sun orraa gara saatii jaa ti.

⁷ Dubartiin Samaariya'aa takka bisaan woraabbatiisaaf yennaa dhutte, Yesuus isi'iin, «Bisaan uni'ii naa kenni!» jedheen.

⁸ Yennaa san barattooti isaa sagalee bitiisaaf gara qacha'aa dhaqaneeran.

⁹ Dubartiin sun, «Ati nama Yihudi'ii teetee ana dubartii samaariya'aa attam bisaan uni'ii gaafatta?» jetteen. Yihudooti muduunu'uu fi qorii samaariyooti itti sooratanutti hin sooratanu.

¹⁰ Yesuus deebisee, «Kennansa Waaqaatii fi ka bisaan uni'ii si gaafatiisatti jiru kun eennu akka te'e adoo beettee jiraattee, atinuu silaa isa gaafattee, inni bisaan jiru'uu si'iif kennaayyu» jedhe.

¹¹ Dubartittiin, «Goottaa kiyya, ati waan ittiin woraabbattu hin qaddu; boollille qile'e; bisaan jiru'uu san eessaa fidda ree?

¹² Ati abbaa keenna Yaaqoob ka boolla tana nu'uuf kenne, ka innii fi ijoolleen isaa, horiin isaa maraayyuu keessaa unane, hin caalaa?» jetteen.

¹³ Yesuus deebisee, «Bisaan kana ka unu marti deebi'ee hin dheebota;

¹⁴ bisaan ani isaaf kennu ka unu ammoo ijjumaa deebi'ee hin dheebotu. Bisaan ani isaaf kennu sun isa keessatti madda jiruu bara baraa burqu te'a» jedhe.

¹⁵ Dubartittiin, «Goottaa kiyya, akka ani ijjumaa hin dheebonnee fi bisaan woraabiisaaf akka ani as hin deebine, bisaan kana naaf kenni» jetteen.

¹⁶ Yesuus, «Dhaqiitii, abbaa manaa keeti waamii koy» jedheen.

¹⁷ Dubartittiin, «Ani abbaa manaa hin qabu» jetteen. Yesuus, «Abbaa manaa hin qabu» jedhiis keeti dhuga'a.

¹⁸ Ati nama shan heerumteerta; namichi ati amma woliin jirtu abbaa manaa keetii moti. Wonni ati jette dhuga'a» jedheen.

¹⁹ Dubartittiin, «Goottaa kiyya, akka ati raagaa teete dhagga.

²⁰ Abbootiin teenna gaara kana irratti Waaqa waaqonfatane; isin ammoo Yihudooti addeen Waaqa itti waaqonfannu Yersaalem te'uu qaba jettan» jetteen.

²¹ Yesuus, «Dubartii tana, gaara kana gubba'atti yookiin Yersaalemitti yennaan kolbaan Abbaa hin waaqonfanne akka dhufaartu na dhugeeffadhu.

²² Isin worri Samaariya'aa waan waaqonfattanu hin beettanu; nuuti ammoo Yihudooti fayyinni Yihudoota keessaa waan dhufuuf, waan waaqonfannu beenna.

²³ Yennaan worri dhuga'aan waaqonfatu, Ayyaanaa fi dhuga'aan Abbaa waaqonfattu ammoo hin dhutti; ammumaayyuu dhutteerti. Inni worra akkas dhuga'aan isa waaqonfatanu barbaada.

²⁴ Waaqi Ayyaana; worri isa waaqonfatulle Ayyaanaa fi dhuga'aan isa waaqonfatuu qaba» jedheen.

²⁵ Dubartittiin isaan, «Masiihiin Kiristoos jedhamu akka dhufu hin beeka; inni yennaa dhufe waan mara nu'utti hima» jetteen.

²⁶ Yesuus deebisee, «Ani ka si woliin dubbatiisatti jiruuyyuu isa» jedheen.

²⁷ Yennuma san barattooti Yesuusii deebi'anee dhufane; Yesuus dubartii woliin dubbatiisatti jiruun dhagganee masoonfatane; ammoo isaan keessaa nami tokkole, «Maan barbaadde?» yookiin, «Maaf isii woliin dubbatta?» ka jedhe hin jiru.

²⁸ Achiin duuba dubartittiin okkotee ifii ta bisaanii achitti lakkittee, gara qacha'aa deebitee dhaxxee, kolba'aan,

²⁹ «Namicha waan ani godhe mara natti hime kowa'aatii ilaala'a. Inni Masiihii te'innaa?» jette.

³⁰ Maarre isaan qachaa keessaa bayanee gara Yesuusii yaa'ane.

³¹ Yennuma san keessatti barattooti, «Barsiisa'a, woy nyaadhu!» jedhane isa kadhatane.

³² Inni ammoo, «Ani sagalee nyaadhu ta isin hin beenne qaba» jedhe.

³³ Maarre barattooti, «Nami woyii sagalee isaa fidee jiraatinaa?» jedhane wol gagaafatane.

³⁴ Yesuus isaaniin, «Sagaleen tiyya, fedhii ka na ergee godhu'uu fi hujii isaa muummessu'u.

³⁵ Isin, «Ji'a afuritti hafeera; achiin duuba haammaan hin geetti» jettanii motii? Ani ammoo isinitti hima; me fichaa keessan miidhassa'aa ilaala'a; ammumaayyuu midhaan bilchaatee haamma'aaf geyeera!

³⁶ Worri haamu ammumaayyuu gatii fudhatiisatti jira; midhaalle jiruu bara baraatiif wolitti qabiisatti jira; kunille ka facaasuu fi ka haamu akka woliin gammaduuf te'a.

³⁷ Maarre mammaassi, «Tokko hin facaasa, kuun hin haama» jedhu dhuga'a.

³⁸ Ani waan hin elowin akka haammattanu isin erge; worri dhibiin elowee, isin eloo isaanii irraa bu'aa dhaggattane» isaaniin jedhe.

³⁹ Dubartittiin, «Waan ani godhe mara natti hime» jettee waan dhugaa baateef worri Samaariya'aa ka qachaa san keessaa hedduun isatti dhugeeffatane.

⁴⁰ Maarre worri samaariya'aa yennaa gara isaa dhufane, isaan woliin akka turuuf isa gaafatane, Yesuus guyyaa lamaan isaan woliin achi ture.

⁴¹ Sababa dubbii isaatiif namooti hedduun dhibiille dhugeeffatane;

⁴² isaan dubartittiin, «Yoona nuuti wonni dhugeeffannuuf, waan ati jette calla'aaf adoo hin te'in, nuutinu isa dhageenneerra; inni dhugumaan fayyisaa biyya lafaa akka te'e beenneerra» jedhane.

Yesuus Ilma Qondaala Tokkoo Fayyise

⁴³ Guyyaa lamaan duuba, Yesuus ka'ee gara Galiila'aa dhage.

⁴⁴ Inninu, «Raagaan tokko biyya ifiititti hin ulfaatu» jedheera.

⁴⁵ Worri Galiila'aa Jila Irra Dabaramaatiif gara Yerusaalemii dhaqaneer-anuun, yennaa jilaa sanitti waan inni godhe mara waan dhagganeeranuuf, yennaa inni Galiilaa geye isa fudhatane.

⁴⁶ Achiin duuba Yesuus, addee bisaan gara daadhii woyni'ii itti jijjiire, gara qachaa Qaana'aa ka lafa Galiila'aa keessaa, deebi'ee dhage. Qondaalli mootumma'aa ka Qifirnaahoomitti ilmi isaa dhibameeru tokko achi jiraayyu.

⁴⁷ Yesuus Yihudaa irraa gara Galiila'aa akka dhufeeru yennaa dhage'e, gara isaa dhagee akka inni Qifirnaahoom deemee, ilma isaa ka dhibamee du'iisa geyeeru fayyisuuf isa gaafate.

⁴⁸ Yesuus isaan, «Isin bilbaasaa fi baasa dhaggittanu malee ijjumaa hin dhugeeffattanu» jedheen.

⁴⁹ Qondaaltichi mootumma'aalle, «Goottaa kiyya, ilmi kiyya adoo hin du'in maganne'ee koy!» jedheen.

⁵⁰ Yesuus isaan, «Gali; ilmi keeti hin jiraata!» jedheen.

Namichille dubbii Yesuus dubbate dhugeeffatee deeme.

⁵¹ Adoo inni galiisatti jiruu, tajaajiltooti isaa karaa irratti dhagganee, ilmi isaa akka jiru itti himane.

⁵² Inni saatii mucaan isaa itti goome isaan gaafatee jennaan, isaan, «Kalee saatii torbatti dhibeen nafa o'ittu sun isa lakkitte» jedhanee deebisane.

⁵³ Achiin duuba abbaan muca'aa saatii Yesuus, «Ilmi keeti hin jiraata» jedhetti akka teete hubate. Tanaaf innii fi maatiin isaa maraa dhugeeffatane.

⁵⁴ Bilbaasi kun ka Yesuus Yihudaa irraa gara Galiila'aa deebi'ee dhufee, lammeessoo huje.

5

Yesuus Namicha Tokko Fayyise

¹ Kanaan duuba, Yesuus jila worra Yihudootaatiif gara Yersaaleemii dhage.

² Yersaalem keessa karra hoolotaa bira haroon seensuma gaaddisa* qabu shan qaddu takka jirtiyyu; afaan Hibrootaatiin «Betzataa» jedhanti†.

³ Kolbaan hedduun dhibanteertu, ballooleen, naafole'ee fi worri nafa laashowe seensuma gaaddisa qabu san keessa irkatanee [tacho'iisa bisaanii eegatiisatti jiraniyyu.

⁴ Ergamaan Waaqaa yennaa tokko tokko haroo keessa gad bu'ee bisaan tachoosa. Bisaan tacho'eeruun duuba nami dhibamaan dursee haroo keessa gad bu'e, dhukkuba isa qabeeru mara irraa hin fayyaayyu.]‡

⁵ Namichi woggaa soddonii saddeeti dhibamaa tureeru tokko achi jiraayyu.

⁶ Yesuus isaa achi irkatiisatti jiru dhaggee, yennaa hedduu akka inni akkas dhibamaa ture beekke, «Fayyuu barbaaddaa?» jedhee isa gaafate.

⁷ Namichi dhibamaan sun, «Gootta'a, bisaan yennaa tacho'u nama haroo keessa na buusu hin qabu; adoo ani seeniisaaf wodhaanuu, nami dhibiin anaan dura seena» jedhee deebise.

⁸ Yesuus, «Ka'i, itillee teeti fudhadhuu, deemi» jedheen.

⁹ Namichi yoosuma fayyee, itillee ifille fudhatee deeme.

Guyyaan wonni sun teete sanbata.

¹⁰ Maarre Yihudooti, namicha fayye saniin, «Adhi sanbata; itillee teeti ba'atiisa seerri keenaa si dhoogga» jedhane.

¹¹ Inni deebisee, «Namicha na fayyisetti, «Itillee teeti fudhadhuu deemi!» anaan jedhe» isaaniin jedhe.

¹² Isaan, «Namichi, «Itillee teeti fudhadhuu deemi!» siin jedhe eennu inni?» jedhanee isa gaafatane.

¹³ Gumiin addee sanitti waan heddatteertuu fi Yesuusille achii waan deemeeruuf, namichi fayye sun Yesuus eennu akka te'e hin beenne.

¹⁴ Achiin duuba Yesuus Galma Waaqaa keessatti isa dhaggee, «Kunoo, amma fayyiteerta; maarre wonni kana caalu akka sitti hin dhunne, hagonaa achi cubbuu hin hujin» jedheen.

* **5:2** Seensuma gaaddisa qabu: Soroo yookiin sissaabii † **5:2** Woraabbiin durii gariin, «Betsayidaa» jedha ‡ **5:4** Woraabbiin durii durii gariin yaada dalleya keessa jiru kana hin qabanu

¹⁵ Achiin duuba namichi deemee, ka isa fayyise Yesuus akka te'e, Yihu-dootatti hime.

¹⁶ Maarre sababa Yesuus sanbataan fayyiseef, Yihudooti isa miidhiisa jalqabane.

¹⁷ Yesuus, «Abbaan kiyya yenna mara hujiisatti jira; anille hujuu qaba» isaaniin jedhe.

¹⁸ Yesuus seera sanbataa balleessuu qofaa adoo hin te'in, Waaqi abbaa kiyya jedhee Waaqaan waan ifi qixxeesseef, Yihudooti isa ijjeesiisaaf jabeessane barbaadane.

Baallii Ilmaa

¹⁹ Maarre Yesuus deebisee, «Ani dhugaa isinitti hima, Ilmi ifuma ifitiin womaa godhuu hin dande'u; inni woma Abbaan isaa godhuun dhagge qofaa godha. Woma Abbaan godhu, Ilmille godha.

²⁰ Abbaan Ilma waan jaalatuuf, waan ifi godhu mara isatti hin mudhisa. Akka isin masoonfattanuuf, waan kana caaluuyyuu isatti hin mudhisa.

²¹ Akkuma Abbaan worra du'ane kaasee jiruu isaanii kennu, akkasuma Ilmille ka ifi fedheef jiruu kenna.

²² Abbaan eennulle'etti hin muru, ammoo akka muruuf baallii guutuu Ilmaaf kenneera;

²³ Nami martinuu akkuma abbaa ulfeessu Ilmalle akka ulfeessuuf inni tana godhe. Ka Ilma hin ulfeessine martinuu, Abbaa isa ergelle hin ulfeessu.

²⁴ «Ani dhugaa isinitti hima; nami jecha kiyya dhage'u ka na ergelle'etti ka dhugeeffatu jiruu bara baraa qaba; inni du'a irraa gara jiru'uu tareera; isatti hin murantu.

²⁵ Ani dhugaa isinitti hima, yennaan worri du'ane qoonqoo Ilma Waaqaa dhage'anu dhufaarti; ammumaayyuu dhutteerti; worri isii dhage'u jiru'uun le'a.

²⁶ Akkuma Abbaan madda jiru'uu te'e, Ilma ifille madda jiru'uu akka te'u godheera.

²⁷ Inni Ilma Namaa waan te'eef, mura akka kennu, Abbaan baallii isaaf kenneera.

²⁸ Waan kana hin masoonfatina'a; yennaan worri du'e marti qoonqoo isaa dhage'u hin dhutti;

²⁹ awwaala ifi keessaalle'ee hin bayan; worri dansaa hujeeru jiruu dhagatiisaaf ka'an; worri hantuu hujeeru akka itti murantuuf ka'an.

Yesuusiif Dhugaa Bayane

³⁰ «Ani baallii tiyyaan womaa godhuu hin dande'u. Akkuma Abbaa kiyya irraa dhage'e mura; waan ka na erge fedhu qofa malee, waan ifi fedhu waan hin gooneef, muraan tiyya dhuga'a.

³¹ «Ani yoo waan kiyya dhugaa baye, dhugaa bayiisi kiyya akka dhuga'aatitti hin fudhatamu.

³² Ammoo ka anaaf dhugaa bayu ka dhibiin hin jira, wonni inni marroo tiyyaaf dhugaa baye sun dhugaa akka teete ani hin beeka.

³³ Isin ergantoota teessan gara Yohaannisii ergitane; inni dhuga'aaf dhugaa baye.

³⁴ Akka isin fayyitanu tana jedhe malee, ani dhugaa bayiisa namaa hin fudhadhu.

³⁵ Yohaannis akka xassaa bobee ifuu ti; isin yenna'aaf ifa isaatitti gam-madu'uuf barbaaddane.

³⁶ Ani ammoo dhugaa baya Yohaannisiituu caalaa dhugaa baya qaba; hujiin akka ani muummessuuf Abbaan kiyya naa kennee, hujiisatti jiru tun, akka Abbaan kiyya na erge dhugaa baati.

³⁷ Abbaan kiyya ka na ergeeyyuu dhugaa naaf bayeera. Isin ijjumaa qoon-qoo isaa hin dhageenne yookiin akka akka isaa jiru ijjumaa hin dhaggine;

³⁸ ka inni ergetti waan hin dhugeeffatiniif, jecha isaa gadhaa keessanitti hin qabanne.

³⁹ Isin Barreeffama Woyyootaan waan jiruu bara baraa dhaggattanu seetanee, Barreeffama Woyyoota qorqortan. Barreeffam Woyyooti kunuu marroo tiyya dhugaa bayan!

⁴⁰ Isin ammoo jiruu dhaggatiisaaf gara kiyya dhufiisa hin feetanu!

⁴¹ «Ani ulfinna nama irraa hin barbaadu.

⁴² Ammoo akka isin jaalala Waaqaa hin qanne ani hin beeka.

⁴³ Ani maqaa Abbaa kiyyaatiin dhufee, isin ammoo na hin fudhanne; nami dhibiin yoo maqaa ifitiin dhufe, isin ammoo isa hin fudhattan.

⁴⁴ Isin ulfinna wolii irraa dhaggatuu ka barbaaddanu, ulfinna Waaqa tokkocha irraa dhufu ammoo ka hin barbaanne, attam natti dhugeeffatiisa dandeettan ree?

⁴⁵ Ani Abbaa kiyya duratti waan isin himadhu hin seyina'a. Muusee isin addii itti godhattanettuu isin himata.

⁴⁶ Adoo Muuse'etti dhugeeffattanee jiraattane, inni waan marroo tiyyaaf barreesseef natti hin dhugeeffattaniyyu.

⁴⁷ Ammoo waan inni barreesse yoo hin dhugeeffatin, waan ani jedhu attam dhugeeffatuu dandeettan?» jedhe.

6

Yesuus Nama Kuma Shan Areere

(Mat. 14:13-21; Mar. 6:30-44; Luq. 9:10-17)

¹ Achiin duuba Yesuus gara Abbaayaa Galiila'aa ta Xiberiyaas jedhantuun gamatti bu'e.

² Gumiin hedduun baasa inni worra dhibamaa fayyisiisaan tolche waan dhaggiteef isa hordotte.

³ Yesuus gara gaara tokkoo ol bayee, barattoota ifii woliin tee'e.

⁴ Yennaa san Jilti Irra Dabaramaa ta Yihudootaa dhikaatteertiyyu.

⁵ Yesuus adaala ifii ilaalee, gumiin hedduun gara isaa dhufiisatti jirtuun dhaggee, Filiphosiin, «Sagalee kolbaan tun nyaattu eessaa binna?» jedhe.

⁶ Inni waan Filiphos jedhu ilaaliisaaf tana jedhe malee, maan akka godhu hin beekaayyu.

⁷ Filiphos, «Daaboon mindaa ji'a saddeetiille* diqquma diqqoolle'een isaan mara hin geettu» jedhe.

⁸ Barattoota isaa keessaa, Indiryaasiin obboleessi Simoon Pheexroosii,

⁹ «Mucaan tokko ka daabboo garbu'uu xaltaa shanii fi qurxummii lama qabu as jira. Tun ammoo kolbaa tana maraaf hin geettu» jedheen.

¹⁰ Yesuus isaaniin, «Kolbaa teessisa'a» jedhe. Marra gudda'atti achi jiraayyu; maarre dhiirti gara kuma shanii gad teteette.

¹¹ Yesuus xaltaa fuudhee, Waaqa galateeffatee, kolbaa achi tee'iisatti jirtuuf haga isaan barbaadane qoode; qurxummiille akkasuma tolche.

¹² Isaan mara yennaa quufane, inni barattoota ifitiin, «Hambaa hatte irraa wonni tokkolle akka hin banne wolitti qaba'a» jedhe.

¹³ Maarre isaan xaltaa daabboo garbu'uu shanan kolbaan nyaatteertuun, hambaa hatte wolitti qabannee kollonjoo kudhanii lama guutane.

¹⁴ Kolbaan yennaa bilbaasa Yesuus huje kana dhaggite, «Kun dhugumaan raagicha gara biyya lafaa dhufu'uu jiruuyyu!» jette.

¹⁵ Yesuus akka isaan hunnaan isa qabane, mootii isa godhachu'uuf dhu-faararu beekke, qofii ifii ammalle gara gaaraa deeme.

Yesuus Bisaan Gubbaa Ideeme
(*Mat. 14:22-33; Mar. 6:45-52*)

¹⁶ Yennaa latti galgalootte, barattooti Yesuusii gara abbaaya'aa gad bu'anee,

¹⁷ hoboloo takka seenanee, abbaaya'aan gama gara Qifrinaahomii bu'iisaaf ka'ane. Latti dukkanoottelle'een Yesuus gara isaanii hin dhunne.

¹⁸ Bubbeen waan bubbisiisatti jirtuuf bisaan raafame.

¹⁹ Haga kiilomeetira shanii yookiin jaa shaffisa'aan laaqaneeranuun, Yesuus bisaan gubbaa ideemaa, gara hobolo'oo dhufee dhikaatiisatti jiruun dhagganee bararaqane.

²⁰ Yesuus ammoo, «Wonni anaa, hin bararaqina'a!» isaaniin jedhe.

²¹ Achiin duuba isaan gara hobolo'oo isa fudhatiisa barbaadane; hoboloon ammoo yoosuma lafa dhaqiisatti jiranu geette.

Kolbaan Yesuus Barbaadde

²² Guyyaa lammeesso'oo kolbaan abbaaya'aan gamatti hatte, hoboloon takkattiin callaan akka achi jirtu hubatte. Yesuus barattoota ifii woliin hobolo'oon akka hin deemin, barattooti ammoo qofuu akka deemanee kanu kolbaan sun beette.

²³ Hobolooti dhibiin, Xiberiyaas irraa, gara lafa addee Gootaan galata galcheeruun, kolbaan daabboo itti nyaatteen dhikaattuu dhufane.

²⁴ Kolbaan, Yesuusii fi barattooti isaa akka achi hin jirre yennaa dhaggite, hoboloota san seentee Yesuus barbaadiisaaf, gara Qifirnaahoomii dhaxxe.

Yesuus Sagalee Jiru'uu ti

²⁵ Kolbaan abbaaya'aan gamatti yennaa Yesuus dhaggite, «Barsiisa'a, yoom as dhutte?» jetteen.

²⁶ Yesuus deebisee, «Ani dhuguma isinitti hima; isin waan sagalee nyaattanee quuttaneef na barbaadiisatti jirtan malee, bilbaasa kiyya waan dhaggitaneeffii moti.

²⁷ Sagalee badduuf hin hujina'a; sagalee jiruu bara baraatiif jiraattuuf ammoo huja'a. Waaqi Abbaan, chaappaa[†] ifii ka ittiin mirkaneessu waan isa irratti godheeruuf, Ilmi Namaa sagalee san isiniif hin kenna» jedhe.

²⁸ Maarre isaan, «Hujii Waaqi akka hunyuuf barbaadu hujiisaaf maan goona?» jedhaneen.

²⁹ Yesuus deebisee, «Wonni akka isin gootanu Waaqi barbaadu, ka inni ergetti dhugeeffatiisa» jedhe.

³⁰ Isaan, «Akka dhagginee si'itti dhugeeffannu bilbaasa maan goota? Maan hujja?

³¹ Akkuma Barreeffam Woyyichi, «Inni sagalee ol-gubbaa irraa akka nyaatanu isaaniif kenne» jedhu, Abbootiin teenna lafa goomole'ee keessatti sagalee mannaa[‡] jedhantu nyaatte» jedhaneen.

³² Yesuus, «Ani dhuguma isinitti hima; ka sagalee ol-gubbaa irraa isiniif kenne Muuse'ee moti; ka sagalee dhuga'aa ol-gubbaa irraa isiniif kennu Abbaa kiyya.

³³ Sagaleen Waaqi kennu sun, ka ol-gubbaa irraa gad dhufee, jiruu biyya lafaatiif kennu» jedheen.

³⁴ Isaan, «Goota'a, sagalee tana yennaa mara nu'uuf kenni» jedhaneen.

[†] 6:27 Chaappaa: Beessisa [‡] 6:31 Mannaa: Yennaa kolbaan Israa'elii lafa goomole'ee keessa marte, Gootaan sagalee sagalee dhibii irraa adda teete isaanii kenne. Sagaleen sun yoo afaaniin qabanu busukutii busukutii jetti

³⁵ Yesuus isaaniin, «Sagaleen jiru'uu ana; ka gara kiyya dhufu ijjumaa hin beelotu; ka natti dhugeeffatu ijjumaa hin dheebotu.

³⁶ Akkuma ani isinitti hime, isin na dhaggitaneertan; ammoo hin dhugeeffanne.

³⁷ Ka Abbaan kiyya naaf kennu mara gara kiyya hin dhufa. Ka gara kiyya dhufu ani ijjumaa ifi irraa hin ari'u.

³⁸ Wonni ani ol-gubbaa irraa gad dhufeef, fedha ka na ergee godhiisaaf malee, fedha kiyya godhiisaafii moti.

³⁹ Fedhiin ka na ergee, worri inni naaf kenne mara guyyaa muumme'ee akka jiru'uuf isaan kaasuu malee, isaan keessaa tokkole akka ani balleessuufii moti.

⁴⁰ Fedhiin Abbaa kiyyaa, nami ilma isaa dhaggee itti dhugeeffatu mara jiruu bara baraa akka qabaatu. Anille guyyaa muumme'ee jiru'uuf isa kaasa» jedhe.

⁴¹ Worri Yihudootaa waan inni, «Sagaleen ol-gubbaa irraa gad dhutte ana» jedheef itti gungumiisatti ka'ane.

⁴² Maarre isaan, «Namichi kun Yesuusii ilma Yoseefiitii moti? Abba'aa fi haadha isaa hin beenna. Amma inni attamiin, «Ol-gubba'aa gad bu'e» jedha ree?» jedhane.

⁴³ Yesuus deebisee, «Wolitti gungumiisa lakkisa'a.

⁴⁴ Abbaan na erge yoo isa harkise§ malee, eennulle gara kiyya dhufiisa hin dande'u; anille guyyaa muumme'ee du'aa isa hin kaasa.

⁴⁵ Raagoleen, «Nami martinuu ka Waaqi barsiise hin te'a» jedhanee barreessaneeran. Ka Abbaa dhage'uu fi ka isa irraa baratu marti gara kiyya dhufa.

⁴⁶ Ka Waaqa biraa dhufe qofattuu Abbaa dhaggeera male, nami tokkole Abbaa dhaggee hin jiru.

⁴⁷ Ani dhugaa isinitti hima; nami dhugeeffatu jiruu bara baraa qaba.

⁴⁸ Sagaleen jiru'uu ana.

⁴⁹ Abbootiin teessan lafa goomole'ee keessatti sagalee mannaa jedhantu nyaatte; te'uu male duute.

⁵⁰ Sagaleen nami akka hin duuneef akka nyaatu, ol-gubbaa irraa gad buutu ammoo tana.

⁵¹ Sagaleen jiraattuun ol-gubbaa irraa gad buute ana. Eennulle yoo sagalee tana nyaate, haga bara baraa hin jiraata. Sagaleen akka biyya lafaatiif jiruu teetuuf, ani kennu tun, foon kiyya» isaaniin jedhe.

⁵² Yihudooti, «Namichi kun attam foon isaa akka nyaannu nu'uu kenniisa dande'a?» jedhanee wol mormiisatti ka'ane.

⁵³ Yesuus isaaniin, «Ani dhuguma isinitti hima: isin yoo foon ilma Namaa hin nyaatin, dhiiga isaalle yoo hin unin, jiruu ifi keessaa hin qaddanu.

⁵⁴ Nami foon kiyya nyaatuu fi dhiiga kiyya unu jiruu bara baraa qaba; Ani guyyaa muumme'ee du'a keessaa isa hin kaasa.

⁵⁵ Foon kiyya sagalee dhuga'aa ti; dhiigi kiyyalle unii dhuga'aa ti.

⁵⁶ Ka foon kiyya nyaatuu fi dhiiga kiyya unu anaan jiraata; Anille isaan jiraadha.

⁵⁷ Abbaan jiraataan akkuma na erge, Anille sababa Abba'aa akkuma jiraadhu, nami na nyaatulle sababa kiyya hin jiraata.

⁵⁸ Sagaleen ol-gubba'aa gad buute sun tana ree; isiin ta akka abbootiin teessan nyaattee, ammoo achiin duuba duuteetii moti. Sagalee tana ka nyaatu haga bara baraa hin jiraata» jedhe.

§ 6:44 Yoo isa harkise: Akka gara kiyya dhufu yoo isa godhe

⁵⁹ Yesuus Qifirnaahoomitti Mana Waaqonfannaa Yihudootaa keessatti yennaa barsiisiisatti jiru tana dubbate.

Jecha Jiruu Bara Baraa

⁶⁰ Barattooti isaa hedduun kana dhage'anee, «Barsiisi kun guddoo jabaata. Eennutti isa fudhatiisa dande'a?» jedhane.

⁶¹ Yesuus akka barattooti marroo waan kanaa gungumiisatti jiranu beekke, «Wonni kun isin gufachiisaa?

⁶² Ilmi Namaa addee dur jirutti deebi'ee ol bayiisatti jiruun yoo dhaggitane maan jettan ree?

⁶³ Ayyaanni Waaqaa jiruu kenna; hunni namaa womaa bu'aa hin qaddu. Jechi ani isinitti dubbadhe Ayyaana Waaqaa ti; jiruulle'e.

⁶⁴ Ammoo isin keessaa worri hin dhugeeffanne gariin jiran» isaaniin jedhe. Yesuus ka isa hin dhugeeffannee fi ka isa dabarsee kennu eennu akka te'e duruu beekeera.

⁶⁵ Yesuus ede'ee, «Ani waan kanaaf ka Abbaan kiyya akka gara kiyya dhufu godhe malee, eennulle gara kiyya dhufiisa hin dande'u isiniin jedhe» jedhe.

⁶⁶ Waan kanaaf, barattoota isaa keessaa hedduun gara duubaa deebi'ane; eega san isa woliin hin deenne.

⁶⁷ Maarre Yesuus barattoota kudhanii lamaaniin, «Isinille deemuu barbaaddanii?» jedhee gaafate.

⁶⁸ Simoon Pheexroos, «Gootta'a, gara eennuu deenna? Ati Jecha jiruu bara baraa kennu qadda.

⁶⁹ Ati Woyyicha Tokkocha Waaqaa akka teete dhugeeffanneerra; beenneerralle'e» jedhaneen.

⁷⁰ Yesuus deebisee, «Isin kudhanii lamaan ka file anaa motii? Te'uu malee isin keessaa tokko Seexana» jedhe.

⁷¹ Inni marroo Yihudaa ilma Simoonii nama biyya keriyootii, ka barattoota kudhanii lamaan keessaa tokko te'ulle, isa dabarsee kennaaru dubbate.

7

Yesuusii Fi Obboleeyyan Isaa

¹ Kanaan duuba, Yihudooti baallii qabanu lafa Yihuda'aa keessa jiranu, isa ijjeesiisaaf waan barbaadaneef, Yesuus Galiilaa keessa deddeebi'e malee, Yihudaa keessa deddeebi'uu hin barbaanne.

² Jilti Yihudootaa ta jila Gose'ee jedhantu dhikaatteertuun,

³ obboleeyyan Yesuusii isaan, «Barattooti teeti hujii ati hujjiisatti jirtu akka dhagganu, addee tana lakkisii gara lafa Yihuda'aa deemi.

⁴ Eennulle guddoo beekkamu yoo barbaade, waan hujatiisatti jiru hin dhossu. Ati hujii tana eega hujjee, biyya lafaatitti ifi mudhisi» jedhaneen.

⁵ Obboleeyyan isaatu isatti hin dhugeeffanne.

⁶ Yesuus isaaniin, «Yennaan tiyya ta anaaf teetu ammalle hin geenne. Yennaan martinuu isiniif ta teetu.

⁷ Biyyi lafaa isin jibbiisa hin dandeettu; ani ammoo hujjiin isi'ii badduu akka teete waan himiisatti jiruuf na jibbiti.

⁸ Isin gara jilaa dhaqa'a. Yennaan naaf teetu waan hin geyiniif, ani gara jila tanaa hin dhaqu» jedhe.

⁹ Inni tana jedheen duuba lafa Galiila'aatitti hafe.

Yesuus Jila Gose'ee Irratti Dhaggame

¹⁰ Obboleeyyan isaa gara jilaa deemaneeanuun duuba, Yesuusille mudhi'in adoo hin te'in dhokaataan dhaqe.

¹¹ Jila irratti Yihudooti baallii qabanu isa barbaadane, «Inni eessa jira?» jedhane gaafatane.

¹² Gumii keessatti marroo isaa guddoo hasaasane. Worri gariin, «Inni nama dansa'a» jedhe. Worri dhibiin, «Waawwo'o, inni kolbaa dokonkorsiisatti jira» jedhe.

¹³ Ammoo Yihudoota baallii qabanu waan sodaataneeff, eennulle marroo isaa mudhi'iin hin dubbanne.

¹⁴ Jilti wodhakkaa geetteertuun, Yesuus gara Galma Waaqaa dhagee barsiisuu jalqabe.

¹⁵ Yihudooti baallii qabanu guddoo maalalanee, «Namichi kun adoo hin baratin attam akka malee wo beeka?» jedhane.

¹⁶ Yesuus deebisee, «Wonni ani barsiisu ka na erge biraa dhutte malee, barsiisa kiyya moti.

¹⁷ Nami fedhii Waaqaa godhiisa barbaadu marti, wonni ani barsiisu Waaqa irraa akka dhutte yookiin anummaan ifi keessaa fuudhee akka dubbadhu hin beeka.

¹⁸ Nami ifi keessaa fuudhee dubbatu, ulfinna ifi waan barbaaduuf tana godha. Nami ulfinna ka isa ergeetiif huju ammoo dhugaamessa; dharti takkaalle isa keessa hin jirtu.

¹⁹ Muuseen seera isinii kenneeraa motii? Isin keessaa tokkolle ammoo ka seera eegu hin jiru. Isin maaf na ijjeesiisaaf barbaaddan?» jedhe.

²⁰ Gumiin deebittee, «Ati durriisa ifi keessaa qadda! Eentu si ijjeesiisaaf barbaadiisatti jira?» jetteen.

²¹ Yesuus, «Ani baasa tokko hujee jennaan, isin maraayyuu maalalfattane.

²² Muuseen akka isin ilmaan teessan haqanqabaa qaddanu isin ajaje; haqanqabaa kana ka jalqabe Muusee adoo hin te'in abbootii teessan teetulle, isin Sanbatalle'een ilma haqanqabaa qaddan.

²³ Seerri Muuse'ee akka hin banneef, guyyaa Sanbataatiin ilma tokko haqanqabaa yoo ka qabanu te'e, maaf guyyaa Sanbataatiin ani nama tokko guutuma guutu'utti waan fayyiseef natti aartan?

²⁴ Muraa dhuga'aa mura'a malee, fuula ilaaltanee muruu lakkisa'a» jedhe.

Yesuus Masiihii?

²⁵ Kolbaan Yersaalemii gariin, «Namichi kun ka isaan ijjeesiisaaf barbaadanuu motii?

²⁶ Ilaala'a! Inni badhinumatti dubbatiisatti jira; isaan isa mormanee womaa hin jenne! Worri baallii qabu akka inni Masiihii te'e dhugumaan beekanee jiraatanuu?

²⁷ Yennaa Masiihiin dhufu, inni eessaa akka dhufu eennulle hin beeku. Namichi kun ammoo eessaa akka dhufe hin beenna» jedhane.

²⁸ Yesuus adoo Galma Waaqaa keessatti barsiisuu qoonqoo ol qabatee, «Isin ana hin beettan; eessaa akka dhufelle hin beettan. Ani baalluma tiyyaan hin dhunne. Te'uu malee, ka na erge dhugaamessa. Isin isa hin beettanu;

²⁹ ani ammoo isa biraa waan dhufee fi inni waan na ergeef isa hin beeka» jedhe.

³⁰ Achiin duuba isaan isa qabiisaaf barbaadane; ammoo yennaan isaa waan hin geyiniif eennulle harkaan isa hin tundhe.

³¹ Gumii san keessaa hedduun isatti dhugeeffatane, «Masiihiin yennaa dhufu, bilbaasa namichi kun godhe caalaa inni bilbaasa hin godhaa laati?» jedhane.

Yesuus Qabiisaaf Fedduu Itti Ergane

³² Fariisaayoti gumiin waan kana marroo Yesuusii hasaasanuun dhageet-tee, sooreyyiin hayyootaatii fi Fariisaayoti Yesuus qabiisaaf eedduu Galma Waaqaa itti ergane.

³³ Yesuus, «Ani yennaa gabaadduu calla'aaf isin woliin jiraadhee, achiin duuba gara ka na ergee hin deema.

³⁴ Isin na hin barbaaddan; ammoo na hin dhaggittanu; addee ani jirulle, isin dhufuu hin dandeettanu» jedhe.

³⁵ Yihudooti baallii qabanu, «Addee nuuti isa hin dhaggine inni eessa dhaqaara? Inni addee kolbaan teenna leetu gara qachoota Giriiki'ii dhagee, Giriikoota barsiisiisaafii?

³⁶ «Isin na hin barbaaddan; ammoo na hin dhaggittanu; addee ani jirulle, isin dhufuu hin dandeettanu» jechuun maan jechuu isaa ti?» jedhane.

Madda Bisaan Jiru'uu

³⁷ Guyyaa muummeffata jilaa, guyyaa guddaa Yesuus ol ka'ee qoonqoo guddoon, «Nami dheebote yoo jiraate gara kiyya dhufee unuu ti.

³⁸ Akkuma barrreeffam Woyyichi jedhe, «Ka natti dhugeeffatu, maddi bisaan jiru'uu isa keessaa burqa» » jedhe.

³⁹ Yesuus marroo Ayyaana Woyyicha worri isatti dhugeeffatu fudhatuutiif tana jedhe; Yesuus gara ulfinnaa ol waan hin fudhataminiif, yennaa san Ayyaanni Woyyichi kennamee hin jiru.

Kolbaan Gargar Qoodante

⁴⁰ Gumii san keessaa namooti gariin jecha isaa kana dhage'anee, «Namichi kun dhugumaan raagicha» jedhane.

⁴¹ Worri dhibiin, «Inni Masiihii» jedhane. Worri dhibiin ammoo, «Masiihiin Galiilaa irraa hin dhufaa?

⁴² Barreeffam Woyyichi, Masiihiin sanyii mooticha Daawitii keessaa, qachaa Daawiti le'e, Beetelem keessatti dhalata jedhaa motii?» jedhane.

⁴³ Maarre sababa Yesuusiitiif gumiin gargar qoodante.

⁴⁴ Worri gariin isa qabiisaaf barbaade, ammoo eennulle isa harkaan hin tundhe.

Dhugeeffata Dhabiisa Yihudoota Baallii Qabanuu

⁴⁵ Eedduun Galma Waaqaa gara sooreyyii hayyootaatii fi Fariisaayota yennaa deebi'anee dhaqane, «Isin maaf isa fidiisa dhaddane?» jedhane eedduu Galma Waaqaa gaafatane.

⁴⁶ Eedduun Galma Waaqaa, «Akka namichi kun dubbate eennulle ijjumaa dubbattee hin beeku» jedhane deebisane.

⁴⁷ Worri Fariisaayotaa, «Isinille sobantanee?

⁴⁸ Worra baallii qabu yookiin Fariisaayota keessaa nami isatti dhugeeffa-teru jiraa?

⁴⁹ Gumiin seera Muuse'ee hin beenne tun, abaarsa Waaqaa jala jirti!» jedhaneen.

⁵⁰ Namichi duraan gara Yesuusii dhageeru, ka Fariisaayota keessaa tokko te'e Niqoodemoos,

⁵¹ «Akka seera keennaatitti nama tokko dhage'anee waan inni godheeru adoo hin dhaggin itti muruun hin dande'amaa?» jedhee gaafate.

⁵² Isaan, «Atille nama Galiila'aatii? Barreeffama Woyyicha qorqorii ilaali; raagaan Galiilaa keessaa akka ijjumaa hin kaane hin dhaggita» jedhaneen. [

⁵³ Achiin duuba marti isaaniituu gara mana ifii deemanee.

8

Dubartii Gaarayyeeffata Irratti Qabante

- ¹ Yesuus ammoo gara gaara Ejersaa deeme.
- ² Boruuyyaa ganama inni gara Galma Waaqaa deebi'e. Kolbaan marti isa biratti wolitti qabantee, inni gad tee'ee isaan barsiisuu jalqabe.
- ³ Barsiisoti Seeraatii fi Fariisaayoti dubartii gaarayyeeffata irratti qabante takka ol seensisanee, fuula isaan maraa dura dhaabbachiisanee,
- ⁴ Yesuusiin, «Barsiisa'a, dubartiin tun gaarayyeeffata irratti qabanteerti.
- ⁵ Muuseen Seera keessatti dubartiin akkasii tun dhaka'aan tumantee akka duutu ajajeera. Ati amma maan jetta?» jedhane.
- ⁶ Isaan sababa ittiin isa himatanu dhaggatiisaaf, Yesuus xaqariisaaf* tana jedhane. Inni ammoo gad jedhee qubaan lafa irratti barreessuu jalqabe.
- ⁷ Isaan ittuma deddeebi'anee gaafannaan, inni ol jedhee isaaniin, «Isin keessaa ka cubbuu hin qanne, dursee dhakaa isi'itti qolaansuu ti» jedhe.
- ⁸ Achiin duuba inni ammalle gad jedhee lafa irratti barreesse.
- ⁹ Isaan yennaa tana dhage'ane, jaarsole'een jalqabane, tokko tokkoon, isaan martinuu bayanee deemane. Yesuus dubartittii achi dhaabbatiisatti jirtu waliin qofuu hafe.
- ¹⁰ Inni ol jedhee isi'iin, «Dubartii tana, meet isaan? Nami sitti mure tokkolle hin jiruu?» jedhe.
- ¹¹ Isiin deebittee, «Goota'a, nami tokkolle hin jiru» jette. Yesuus, «Anille si'itti hin muru. Deemi; ammoo deebitee cubbuu hin hujin» jedhe.†

Yesuus Ifa Biyya Lafaa Ti

- ¹² Yesuus ammalle isaaniin, «Ani ifa biyya lafaa ti; ka na hordofu marti ifa jiru'uu hin qabaata malee, ijumaa dukkana keessa hin ideemu» jedhee dubbate.
- ¹³ Worri Fariisaayotaa, «Ati amma ifii keetiif dhugaa bayiisatti jirta; dhugaa bayiisi keeti fudhatama hin qabu» jedhaneen.
- ¹⁴ Yesuus deebisee, «Ani ifii kiyyaaf yoo dhugaa bayelle, ani eessaa akka dhufee fi eessa akka deemu waan beekuuf, dhugaa bayi kiyya dhuga'a. Isin ammoo eessaa akka ani dhufe yookiin eessa akka ani deemu hin beettanu.
- ¹⁵ Isin yaada namumma'aatiin murtan; ani nama tokko irralle'etti hin muru.
- ¹⁶ Ani ammoo yoo murelle, ka na erge Abbaan na waliin jira; qofii tiyya waan hin murreef, muraan tiyya dhuga'a.
- ¹⁷ Dhugaa bayi nama lamaa, fudhatama qaba jedhantee Seera keessan keessatti barreeffanteerti.
- ¹⁸ Ani ifii kiyyaaf dhugaa baya; Abbaan na ergelle naaf dhugaa baya» isaaniin jedhe.
- ¹⁹ Achiin duuba isaan, «Abbaan keeti eessa jira?» jedhane isa gaafatane. Yesuus deebisee, «Isin analle, Abbaa kiyyaalle hin beettanu; adoo na beettanee Abbaa kiyyaalle hin beettaniiyyu» isaaniin jedhe.
- ²⁰ Yesuus Galma Waaqaa keessatti, addee subbi kennansaa keyamuun biratti adoo barsiisuu jecha kana mara dubbate. Te'uu malee yennaan isaa waan hin geyiniif eennulle isa hin qanne.

Addee Ani Dhaqaaru Isin Dhaqiisa Hin Dandeettanu

* **8:6** Xaqariisaaf: Qaxafiisaaf † **8:11** Woraabbiin durii hedduun kutaa (7:53-8:11) jiru hin qabanu; gariin Yoh. 21:24 n duubatti galchan; kuun Luq. 21:38 titti aansanee galchan; barreeffam goga'aa tokko Yoh. 7:36 tti aansee galcheera

²¹ Yesuus ede'eelle, «Ani hin deema; isin na hin barbaaddan; ammoo cubbuu teessaniin hin duutan. Addee ani dhaqu isin dhaqiisa hin dandeettanu» isaaniin jedhe.

²² Maarre Yihudooti, «Inni «Addee ani dhaqu isin dhaqiisa hin dandeettanu» jedha. Wonni akkana jedhuuf inni ifi ijjeesaaraa laati?» jedhane.

²³ Yesuus deebisee, «Isin worra jalaa ti; ani ammoo ka gubba'aa ti. Isin ka biyya lafa tanaa ti; ani ammoo ka biyya lafaatii moti.

²⁴ Ani «Ana»[‡] akka te'e beettanee yoo hin dhugeeffatin, cubbuu teessaniin waan duutannuuf, isin cubbuu teessaniin hin duutan jedhe» jedheen.

²⁵ Isaan, «Ati eennu?» jedhane isa gaafatane. Yesuus deebisee, «Kama ani jalqaba irraa kaasee isinitti hime.

²⁶ Ani marroo teessan waan jedhuu fi waan isinitti muru hedduu qaba. Teetuu malee, ka na erge dhugaamessa; anille waan isa irraa dhage'e qofa biyya lafaatitti dubbadha» jedhe.

²⁷ Isaan marroo Abba'aa akka Yesuus isaanitti dubbatiisatti jiru hin hubanne.

²⁸ Maarre inni isaaniin, «Isin yennaa Ilma Namaa muka irratti ol fuutane, ani eennu akka te'e hin beettan; achiin duuba baallii tiyyaan womaa akka ani hin goone hin beettan; ammoo waan Abbaan akka ani jedhu na barsiise qofaa jedha.

²⁹ Ka na erge na woliin jira; ani yennaa mara waan isa gammachiisu waan hujuuf, inni qofii tiyya ana hin lakkinne» jedhe.

³⁰ Akkuma Yesuus tana dubbateen worri hedduun isatti dhugeeffate.

Dhugaan Bilisa Isin Baatti

³¹ Maarre Yesuus Yihudoota worra isatti dhugeeffateen, «Isin barsiisa kiyyaaf yoo ajajantane, dhugumaan barattoota tiyya;

³² isin dhugaa hin beettan; dhugaalle bilisa isin hin baatti» jedhe.

³³ Isaan deebisane, «Nuuti sanyii Abrahaamii ti; ijjumaa eennulle'eef garboolee teennee hin beennu. Ati, «Bilisa baatan» jechuun keeti maan jechu'u ree?» jedhane.

³⁴ Yesuus deebisee, «Ani dhugaa isinitti hima; ka cubbuu huju martinuu garbicha cubbu'uu ti.

³⁵ Garbichi yennaa mara maatii gootaa ifii woliin hin le'u; ilmi ammoo yennaa mara maatii san woliin le'a.

³⁶ Ilmi yoo bilisa isin baase, isin dhugumaan bilisa hin baatan.

³⁷ Akka isin sanyii Abrahaamii teetane ani hin beeka. Te'uu malee isin jecha kiyya waan hin fudhatiniif, na ijjeesiisaaf barbaaddan.

³⁸ Ani waan Abbaa kiyya biratti dhagge dubbadha; isin ammoo waan abbaa keessan irraa dhageettane gootan» jedhe.

³⁹ Isaan deebisane, «Abbaan keenna Abrahaam» jedhaneen. Yesuus deebisee, «Isin dhugumaan ijoollee Abrahaamii adoo teetane, hujii Abrahaam huje hin hujjaniyyu.

⁴⁰ Isin ana nama dhugaa Waaqa irraa dhage'ee isinitti hime ijjeesiisaaf barbaaddan. Abrahaam waan akkanaa hin goone.

⁴¹ Isin waan abbaan keessan huju hujatiisatti jirtan» jedhe. Isaan deebisane, «Nuuti ijoollee abbeera'aatii moti; Abbaan nuuti qannu Waaqa tokkocha qofa» jedhane.

[‡] **8:24** Ana: Kolbaa Israa'eliitiif maqaan Waaqaa woyyichi ka «Ana» jedhamee hiikkamuu dande'u «Yahiiweh». Wongeela Yohaannisii keessatti, Yesuus yennaa tokko tokko akka inninuu isuma san te'e mudhisiisaaf, «Ana» jedhee itti fayyadameera.

⁴² Yesuus isaaniin, «Waaqi dhugumaan Abbaa keessan adoo te'e, ani waan Waaqa biraa dhufee amma as jiruuf, na hin jaalattaniyyu. Isatti na erge malee, ani baallii tiyyaan hin dhunne.

⁴³ Waan ani jedhu isin maaf hin hubanne? Wonni hubatiisa dhaddanuuf, Jecha kiyya dhage'iisaaf hin dandeettanu.

⁴⁴ Isin ka abbaa keessan Seexanaa ti; halchaa isaalle godhiisaaf barbaaddan. Inni jalqabumaa kaasee ka nama ijjeesu; dhugaan isa keessa waan hin jirreef, dhugaa irra hin jiru. Inni dharaamessaa fi abbaa dharaa waan te'eef, yennaa dhara dubbatu, dharuma ifi keessaa dubbata.

⁴⁵ Ani ammoo waan dhugaa dubbadhuuf, isin natti hin dhugeeffattanu.

⁴⁶ Isin keessaa nami yakkaa cubbu'uu natti muru eennu? Ani dhugaa yoo dubbadhu, isin maaf ana hin dhugeeffanne ree?

⁴⁷ Ka Waaqaa ka te'e, jecha Waaqaa hin dhage'a. Te'uu malee, isin ka Waaqaa waan hin te'iniif, hin dhageettanu» jedhe.

Yesuusii Fi Abrahaam

⁴⁸ Yihudooti deebisane, «Ati nama samaariya'aa ti; durriisalle ifi keessaa qadda jechuun keenna dhuga'aa motii?» Yesuusiin jedhane.

⁴⁹ Yesuus deebisee, «Ani durriisa ifi keessaa hin qabu. Ani abbaa kiyya ulfeessa; isin ammoo na hin ulfeessitanu.

⁵⁰ Ani ulfinna ifiif hin barbaadu. Ka ulfinna naaf barbaadu ammoo hin jira; ka murulle isa.

⁵¹ Ani dhugumaan isinitti hima; nami jecha kiyya eegatu marti ijjumaa hin du'u» jedhe.

⁵² Yihudooti isaan, «Nuuti amma dhugumaan akka ati durriisa ifi keessaa qaddu beenneerra! Abrahaam du'eera; raagotille du'aneeran; ati ammoo, «Nami jecha kiyya eegatu ijjumaa hin du'u» jetta.

⁵³ Ati abbaa keenna Abrahaam hin caaltaa? Inni du'eera; raagotille du'aneeran. Ati eennu ifi seeta?» jedhane.

⁵⁴ Yesuus deebisee, «Ani yoo ifi ulfeesse, ulfinni sun gatii hin qabu. Ka ana ulfeessu Abbaa kiyya, ka isin Waaqa keenna jettanu.

⁵⁵ Te'uu malee isin isa hin beettanu; ani ammoo isa hin beeka. Ani yoo isa hin beeku jedhe, akkuma keessan dharaamessa te'a. Ani ammoo isa beeka, jecha isaalle hin eegadha.

⁵⁶ Abbaan keessan Abrahaam guyyaa dhufa tiyyaa dhaggiisaaf gammade; dhaggeelle gammade» jedhe.

⁵⁷ Yihudooti isaan, «Ati woggaa shantamaayyuu adoo hin geyin, Abrahaam dhaggitee?» jedhane.

⁵⁸ Yesuus deebisee, «Ani dhugaa isinitti hima; Abrahaam adoo hin dhalatinuu Ani «Ana» jedhe.

⁵⁹ Maarre isaan isa tumiisaaf dhakaa fudhatane; Yesuus ammoo ifi dhossee Galma Waaqaatii bayee deeme.

9

Yesuus Namicha Ballaa Te'ee Dhalate Tokko Fayyise

¹ Yesuus adoo ideemaa dabaruuf, namicha ballaa te'ee dhalateeru tokko dhagge.

² Barattooti isaa, «Barsiisa'a, akka namichi kun ballaa te'ee dhalatu ka cubbuu huje eennu? Isuma mo'o worra isaa ti?» jedhane isa gaafatane.

³ Yesuus deebisee, «Inni yookiin worri isaa cubbuu hin hunye. Hujiin Waaqaa isa irratti akka mudhattuuf, inni ballaa te'e.

⁴ Adoo guyya'aatuu, hujii ka ana ergee hujuu qanna; halkan nami tokkole itti hujjisa hin dandeenne hin dhufa.

⁵ Ani biyya lafaa keessa haga jiru, ifa biyya lafaa ti» isaaniin jedhe.

⁶ Yesuus tana jedheen duuba, lafatti tufee hancufaan dhoqqeesse; dhoqqee san ila namichaattitti dibee,

⁷ «Dhaqiitii haroo Siilo'aamiititti dhiqadhu» jedhe; «Siilo'aam» jechuun ka ergame jechu'u. Maarre namichi dhaqee, dhiqatee, dhaggaa deebi'ee dhufe.

⁸ Ollooti isaatii fi kolbaan tanaan dura isaa kadhatuun dhaggiteertu, «Namichi kun ka tee'ee kadhatuu motii?» jedhane gaafatane.

⁹ Gariin, «Isuma» jedhane; ka dhibiin ammoo, «Waawwo'o, isa fakkaata malee, isaa moti» jedhane.

Namichi ammoo, «Ani isuma» jedhe.

¹⁰ Isaan, «Itti teeti attamiin banante ree?» jedhane isa gaafatane.

¹¹ Inni deebisee, «Namicha Yesuus jedhamutti biyyee dhoqqeessee, ila tiyyatti dibee, akka ani gara haroo Siilo'aamii dhaqee dhiqadhu natti hime. Maarre anille dhaqee dhiqadhee, dhagguu dande'e» jedhe.

¹² Isaan, «Inni amma eessa jira?» jedhane isa gaafatane. Inni deebisee, «Ani hin beeku» jedhe.

Fariisaayoti Akka Namichi Itti Fayye Qorqorane

¹³ Achiin duuba isaan namicha dur balla'aa kaan gara Fariisaayotaa geessane.

¹⁴ Guyyaan Yesuus biyyee dhoqqeessee ila namicha balla'aa fayyise sun guyyaa Sanbataa ti.

¹⁵ Fariisaayotille attam akka inni dhagguu dande'e namicha gaafatane. Namichi deebisee, «Yesuus dhoqqee ila tiyya dibe; ani dhiqadhee, amma dhagguu dande'e!» jedhe.

¹⁶ Fariisaayoti gariin, «Namichi kun Sanbataa waan hin ulfeessineef, Waaqa biraa ka dhufe te'iisa hin dande'u» jedhane. Worri kuun ammoo, «Nami cubbaalessi attamiin bilbaasota akkasii hujuu dande'a?» jedhane odduu isaaniititti gargar qoqoodam te'e.

¹⁷ Maarre Fariisaayoti namicha dur balla'aa kaaniin, «Marroo namicha ila tiyya bane jettu kanaa, maan jetta?» jedhane gaafatane.

Namichi deebisee, «Inni raaga'a» jedhe.

¹⁸ Yihudooti baallii qabanu, namichi kun akka dur ballaa te'eeruu fi amma dhagguu dande'e, haga worra isaa waamanutti hin dhugeeffanne.

¹⁹ Maarre isaan worraan, «Mucaan keessan, ka isin ballaa te'ee dhalate jettanu kanaa? Amma inni attam dhagguu dande'e ree?» jedhane gaafatane.

²⁰ Worri isaa deebisee, «Akka inni ilma keenna te'e, ballaa te'eelle akka dhalate hin beenna.

²¹ Amma ammoo attamiin akka inni dhagguu dande'e, yookiin eennu ila isaa akka bane nuuti hin beennu. Inni nama gudda'a, ifumaafuu dubbatuu hin dande'a; isa gaafadha'a!» jedhane.

²² Nami akka Yesuus Masihi* te'e dhugaa baasee dubbatu, Mana Waaqonfannaa Yihudootaa keessaa akka ari'amu Yihudooti baallii qabanu waan wolii galaneeranuuf, worri isaa isaan sodaatee tana jedhe.

²³ Waan kanaaf worri isaa, «Inni nama gudda'a; isa gaafadha'a!» jedhane.

²⁴ Isaan namicha dur ballaa te'ee dhalate lammeessoo waamanee, «Ati Waaqa ulfeessii dhugaa dubbadhu! Namichi kun akka cubbaalessaa nuuti hin beenna» jedhaneen.

* 9:22 Masihi: Kiristoos

²⁵ Namichi deebisee, «Inni cubbaalessa te'uu yookiin te'uu dhabuu ani hin beeku; waan tokko qofaa beeka: Ani ballaa te'ee ture, amma ammoo hin dhagga» jedhe.

²⁶ Isaan, «Inni maan sii godhe? Inni attamiin ila teeti bane?» jedhane gaafatane.

²⁷ Inni deebisee, «Ani duruu isinitti himeera, isin hin caqanne. Maaf ammaalle dhage'uu barbaaddan? Isinille barattoota isaa te'uu feetanii?» jedhe.

²⁸ Isaan isa arrassanee, «Si'ittuu barataa isaa ti; nuuti ammoo barattoota Muuse'ee ti.

²⁹ Nuuti akka Waaqi Muuse'etti dubbateeru hin beenna; namichi kun ammoo, inni eessaa akka dhufeeyyuu hin beennu!» jedhaneen.

³⁰ Namichi deebisee, «Wonni kanciraa, inni eessaa akka dhufe isin hin beettanu! Inni ammoo ila tiyya bane!

³¹ Waaqi cubbaaleyyi'iif akka hin dhageenne nuuti hin beenna; inni worra isa ulfeessuu fi fedhii isaa muummessuuf dhage'a.

³² Nama ballaa te'ee dhalate tokko ka ila bane jira jedhamuun, haga biyyi lafaa dadantee ijjumaa dhage'antee hin beettu.

³³ Nami kun Waaqa biraa adoo dhufuu dhabaatee, waan tokkolle godhuu hin dande'uuyyu» isaaniin jedhe.

³⁴ Isaan, «Ati cubbu'uun guutantee dhalattee nu barsiisiisaaf wodhaantaa?» jedhane gussanee gad isa baasane.

Ballummaa Ayyaantummaa'aa

³⁵ Yesuus akka isaan namicha gussanee gad baasane dhage'ee, yennaa isa dhagge, «Ilma Namaatitti hin dhugeeffattaa?» jedhee isa gaafate.

³⁶ Namichi deebisee, «Goottaa kiyya, kam inni? natti himi, itti dhugeeffadhaa!» jedheen.

³⁷ Yesuus isaan, «Ati duruu isa dhaggiteerta, ka amma si woliin dubbatiisatti jiruuyyu isa» jedhe.

³⁸ Namichi, «Goottaa kiyya! Ani hin dhugeeffadha» jedhee isaa sagade.

³⁹ Yesuus, «Worri ballaan akka dhagguu fi worri dhaggu ballaa akka te'u, muriisaaf ani gara biyya lafaa tana dhufe» jedhe.

⁴⁰ Worra Fariisaayotaa ka isa woliin achi jiranu keessaa gariin isaa tana jedhu dhage'anee, «Dhugumaan nuutilleen balloota jechuu keetii ree?» jedhane isa gaafatane.

⁴¹ Yesuus isaaniin, «Isin balloota adoo teetanee, silaa yakkaa hin qaddanuuyyu; amma ammoo hin dhaggina waan jettanuuf, isin yakkaameyyi'i» jedhe.

10

Mammaassa Tissee Hoolotaa

¹ Yesuus, «Ani dhugaa isinitti hima, nami gara gooree hoolotaa balbalaan adoo hin te'in, karaa dhibi'iin yaabee seenu, hattu'uu fi saamtu'u.

² Nami gara gooree hoolotaa balbalaan seenu ammoo, tissee hoolotaa ti.

³ Ka balbala eegu balbala isaaf hin bana. Hoolotille qoonqoo isaa hin dhage'an. Inni hoolota ifii maqa'aan waamaa, dura deemaa gad baasa.

⁴ Inni hoolota ifii mara yennaa gad baase, isaaniin dura deema; hoolotille qoonqoo isaa waan beekanuuf isa hordofan.

⁵ Isaan qoonqoo ormaa waan hin beenneef, irraa baqatan malee, isa hin hordofanu» jedhe.

⁶ Yesuus mammaassa kana isaanitti hime, isaan ammoo waan inni jedhe hin hubanne.

Yesuus Tissee Dansa'a

⁷ Yesuus ammalle, «Ani dhugaa isinitti hima: balbalti hoolotaa ana.

⁸ Worri dhibiin ka anaan dura dhufe marti hattu'uu fi saantu'u, hooloti ammoo isaan hin dhageettu.

⁹ Balbalti ana. Ka anaan seenu hin fayya; ol hin seena, gad hin baya, dheedalle hin dhaggata.

¹⁰ Hattuun hatiisaaf, ijjeesiisaa fi balleessiisa qofaaf dhutti. Ani ammoo hooloti jiruu akka dhaggattuu fi jiruu firinxiixxuu* akka qabaattuuf dhufeera» jedhe.

¹¹ Yesuus, «Tisseen dansaan ana. Tisseen dansaan hoolota ifitiif lubbuu ifi dabarsee kenna.

¹² Tissee adoo hin te'in, ka qaxaramee tissu, hooloti ta isaa waan hin te'iniif, yayyiin dhuttuun yennaa dhagge, inni hoolota lakkisee dheeta; maarre yayyiin buttee hoolota bittinneessiti.

¹³ Namichi qaxaramee tissu, waan qaxaramee tissuuf, hoolotaafille waan hin rakkaneef lakkisee dheeta.

¹⁴⁻¹⁵ Tisseen dansaan ana. Akkuma Abbaan na beeku, anilleen isa beeka; akkuma ani hoolota tiyya beeku, isaanille na beekan. Anille isaaniif lubbuu tiyya dabarsee kenna.

¹⁶ Ani hoolota dhibii ta gooree tana keessa hin jirre qaba; ani isaanille fiduu qaba. Isaan qoonqoo tiyya hin dhage'an, gooree takkaa hin te'an, tisseelle tokkocha.

¹⁷ «Ani lubbuu tiyya deebisee fudhatu'uuf dabarsee waan kennuuf, Abbaan na jaalata.

¹⁸ Ani lubbuu tiyya fedha kiyyaan dabarsee kenna malee eennulle narraa hin fudhatu. Ani lubbuu tiyya dabarsee kenniisaa fi deebisee fudhatiisaaf baallii qaba. Ani ajaja kana Abbaa irraa fudhadhe» jedhe.

¹⁹ Sababa jecha kanaatiif ammalle Yihudooti yaadaan gargar qoqoodante.

²⁰ Isaan keessaa nami hedduun, «Inni durriisa ifi keessaa qaba! Inni maraata'a! Isin maaf isa dhageettan?» jedhane.

²¹ Worri dhibiin ammoo, «Tun dubbii nama durriisa ifi keessaa qabuutii moti! Durriisi ballaa ila banuu dande'aa?» jedhane.

Yesuus Tuffatame

²² Yennaa san jilti eebba Galma Waaqaa ka haareffamee Yerusaalem keessatti jilifamiisatti jirtiyyu; yennaan sun ganna.

²³ Yesuus dalleya Galma Waaqaa keessatti sissaabii† Solomoon jala ded-deebi'u keessa ideemiisatti jiruun,

²⁴ Yihudooti isa marsitee, «Ati haga yoomii gadhaa keenna rarraacha? Ifatti baasii nutti himi: Ati Masiihii?» jedhane gaafatane.

²⁵ Yesuus deebisee, «Ani duruu isinitti himeera, isin ammoo ana hin dhugeeffattanu. Hujiin ani maqaa Abbaa kiyyaatiin huju naaf dhugaa baati;

²⁶ isin ammoo hoolee tiyya waan hin te'iniif, hin dhugeeffattanu.

²⁷ Hooloti tiyya qoonqoo tiyya dhageetti; ani isaan beeka, isaanille na hordofan.

²⁸ Ani jiruu bara baraa isaaniif kenna, isaanille ijjumaa hin badanu, eennulle harka kiyya keessaa isaan butuu hin dande'u.

²⁹ Abbaan kiyya, ka isaan naaf kenne waan mara caala, eennulle dande'ee harka Abba'aatii isaan hin butu.

* **10:10** *Firinxiixxuu*: Ta dhidhuu hin qanne † **10:23** *Sissaabii*: Soroo manaa, gimoo manaa

³⁰ Abba'aa fi Ani tokko» isaaniin jedhe.

³¹ Achiin duuba Yihudooti dhaka'aan isa tumiisaaf ammalle dhakaa fudhatte.

³² Yesuus deebisee, «Ani hujii dansaa hedduu Abbaan natti kenne hujee isinitti mudhiseera; isaan kana keessaa kamiif dhaka'aan na tumiisaaf barbaaddan?» jedhe.

³³ Yihudooti deebisane, «Wonni nuuti dhaka'aan si tumiisaaf barbaannuuf, waan ati Waaqa faanshessiteef malee, hujii dansaa keessaa takkaalle'eefii moti, ati adoo namuma teeteertuu Waaqa ifi goota» jedhaneen.

³⁴ Yesuus deebisee, «Seera keessan keessatti Waaqi isiniin «Isin waaqota» ka jedhe barreeffanteertii motii?

³⁵ Worra jechi Waaqaa isaaniif dhufeen, «Isin waaqota» yoo jedhe, Barreeffam Woyyichi ka hin diiganne yoo te'e,

³⁶ «Ani Ilma Waaqaa ti» waan jedheef, ana ka Abbaan na filatee gara biyya lafaa na ergeen, isin «Waaqa faanshessita» attam jettan ree?

³⁷ Yoo ani hujii Abbaa kiyyaa hin hunye te'e, natti hin dhugeeffatina'a.

³⁸ Yoo ani huju te'e ammoo, natti dhugeeffatuu dhaddanulle, Abbaan na keessa, Anille Abbaa keessa akka jiru akka beettanuu fi akka hubattanu, hujii tiyyatti dhugeeffadha'a» isaaniin jedhe.

³⁹ Isaan ammalle isa qabiisaaf barbaadane; inni ammoo isaan harkaa miliqe.

⁴⁰ Achiin duuba Yesuus ammalle Yordaanosiin gama addee Yohaannis duraan itti cuuphaa ture deebi'ee dhagee, achi bubbule.

⁴¹ Namooti hedduun gara isaa dhufane. Isaan, «Yohaannis bilbaasa tokkole hin goone, ammoo marroo namicha kanaa wonni inni dubbate marti dhuga'a» jedhane.

⁴² Namooti hedduun achi jiranu Yesuusitti dhugeeffatane.

11

Du'a Alaazarii

¹ Namichi Alaazar jedhamu tokko, ka Bitaaniiyaa keessa le'u dhibame. Bitaaniiyaan qachaa Maariyaamii fi obboleettiin isi'ii Maartaan le'anuu.

² Maariyaamiin tun ta fiqiree miila Goota'aatitti naxxee, rifeensa mataa ifitiin miila isaa haxxe; Alaazariin dhibame sunille obboleessa isi'ii ti.

³ Obboleettoti Alaazarii: «Goota'a, nami ati jaalattu dhibameera» jedhanees Yesuusitti ergane.

⁴ Yesuus yennaa tana dhage'e, «Dhibeen tun, ulfinni Waaqaa akka mudhatuuf, Ilmi Waaqaalle akka ittiin ulfaatuuf teete malee, Alaazar du'ee akka hafuufii moti» jedhe.

⁵ Yesuus Maartaa, obboleettii isi'ii Maariyaamii fi Alaazar hin jaalataayyu.

⁶ Akka Alaazar dhibame dhage'ulle, addee jiru san guyyaa lama oole.

⁷ Achiin duuba inni barattoota ifitiin, «Me gara biyya Yihuda'aa deebinee dhandha» jedhe.

⁸ Barattooti isaan, «Barsiisa'a, dhikoo tana Yihudooti dhaka'aan si tumiisaaf barbaadaneeran; ati ammalle achi dhaqiisaaf yaadattaa?» jedhaneen.

⁹ Yesuus deebisee, «Guyyaan tokko saatii kudhanii lama qabaa motii? Maarre nami guyya'aan ideemu, ifa biyya lafaa tana waan dhagguuf hin gufatu.

¹⁰ Nami halkaniin ideeme ammoo, sababa ifa hin qanneef hin gufata» jedhe.

¹¹ Yesuus tana jedheen duuba dabalee, «Alaazar jaalli keenna rafeera, ani ammoo dhagee isa hin dammassa» jedhe.

¹² Barattooti isaa deebisane, «Gootta'a, inni yoo rafee jiraate, hin fayya» jedhane.

¹³ Yesuus akka Alaazar du'eeru dubbatte; isaan ammoo marroo hirriibaa dubbate seyane.

¹⁴ Maarre Yesuus ifa tolchee, «Alaazar du'eera;

¹⁵ ammoo akka isin dhugeeffattanuuf, ani achi waan hin jiraatiniif gammadeera. Amma ammoo ka'aa gara isaa dhandhaa!» isaaniiin jedhe.

¹⁶ Toomaasiin Didimoos* jedhamu barattoota dhibi'iin, «Kowaa me nuutille dhandhee, barsiisaa woliin duunaa!» jedhe.

Yesuus Du'aa Ka'iisaa Fi Jiru'u

¹⁷ Yesuus yennaa achi geye, Alaazar haga awwaalamee guyyaa afur akka te'e dhagge.

¹⁸ Bitaniyaan Yerusaalem irraa gara kiilomeetira sadii fagaatti;

¹⁹ Yihudooti hedduun Maarta'aa fi Maariyaam marroo du'a obboleessa isaaniitiif isaan jajjabeessiisaaf dhufaneeran.

²⁰ Maartaan dhufa Yesuusii yennaa dhageette, gad itti baate; Maariyaam ammoo manumatti hatte.

²¹ Maartaan Yesuusiin, «Gootta'a, adoo ati as jiraattee, obboleessi kiyya silaa hin du'uuyyu!

²² Ammoo, ammalle waan ati gaafatte mara Waaqi akka sii kennu ani hin beeka» jette.

²³ Yesuus, isi'iin, «Obboleessi keeti du'aa hin ka'a» jedhe.

²⁴ Maartaan deebittee, «Guyyaa muumme'ee yennaa du'aa ka'iisaa, akka inni du'aa ka'u ani hin beeka» jette.

²⁵ Yesuus, «Du'aa ka'iisaa fi jiruun ana. Ka natti dhugeeffatu, du'ulle jiru'uun hin le'a;

²⁶ Ka jiru'uun le'uu fi natti dhugeeffatu marti hin du'u. Ati kana hin dhugeeffattaa?» isi'iin jedhe.

²⁷ Isiin, «Ee Gootta'a, ati Ilma Waaqaa, Masihiin gara biyya lafaa dhufaaru akka teete ani hin dhugeeffadha» jetteen.

Yesuus Bowe

²⁸ Maartaan kana jetteen duuba, dhaxxee obboleettii ifii Maariyaam qofuu waantee, «Barsiisaan as jira, si'ille waamiisatti jira» jetteen.

²⁹ Maariyaamiin yennaa tana dhageette, ariifattee isa dhaggiisaaf kaatee baatee gara isa dhaxxe.

³⁰ Yesuus adduma Maartaan isa itti dhaggite jiraayyu malee, yennaa san ollaa keessa hin seenneeyyu.

³¹ Yihudooti isii jajjabeessiisaaf isii woliin mana keessa jiranu, yennaa Maariyaamiin ariifattee kaatee baatuun dhaggane, waan addee awwaalaa dhaxxee boottu seyane, isii gula ka'ane.

³² Maariyaam addee Yesuus jiru geetee, akkuma isa dhaggiteen, miila isaatitti jiddee, «Gootta'a! Adoo ati as jiraattee, obboleessi kiyya silaa hin du'u» jetteen.

³³ Yesuus bowiisa isi'iitii fi kolbaan isii woliin jirtulle attam akka bowiisatti jirtu yennaa dhagge, gadhaan isaalle gaddee, guddisee laaleffatee,

³⁴ «Essatti awwaaltane?» jedhee isaan gaafate. Isaan, «Gootta'a, koyii ilaali» jedhane deebisane.

* **11:16** *Didimoos*: Didimoos jechuun lakkicha jechu'u

³⁵ Yesuus bowe.

³⁶ Yihudooti, «Attam akka inni isa jaalate ilaala'a!» jette.

³⁷ Isaan keessaa gariin ammoo, «Inni nama ballaa fayyiseera, silaa akka Alaazar hin duune dhoogguu hin dande'uuyyuu?» jedhane.

Yesuus Alaazar Du'aa Kaase

³⁸ Yesuus ammalle guddisee laaleffatee, gara boolla awwaalaa dhaqe. Boolli awwaalaa sun goda dhakaan afaan irra keyameeru.

³⁹ Yesuus, «Dhaka irraa kaasa'a!» jedhee ajaje. Maartaan, obboleetiin nama du'ee, «Gootta'a, inni haga du'ee guyyaa afur tureera. Amma ajoweera!» jetteen.

⁴⁰ Yesuus isi'iin, «Yoo dhugeeffatte ulfinna Waaqaa akka dhaggitu, ani sitti hin hinnee?» jedhe.

⁴¹ Maarre isaan dhaka irraa kaasane. Achiin duuba Yesuus ol ilaalee, «Ee Abba'a, waan na dhageetteef, si galateeffadha.

⁴² Akka ati yennaa mara naa dhageettu ani hin beeka; ammoo kolbaan as dhaabbattu tun akka ati ana ergite akka dhugeeffattuuf tana jedhe» jedhe.

⁴³ Tana jedheen duuba, Yesuus, «Alaazar, as bayi!» jedhee qoonqoo guddoon waame.

⁴⁴ Alaazarille harkii fi miilli isaa woyaa awwaalaatiin xaxamee, fuulli isaalle woya'aan maramee, gad baye. Yesuus, «Hiika'aatii lakkisa'a, deemuu-tii» isaaniin jedhe.

Yesuus Ijjeesiisaaf Itti Malane

⁴⁵ Yihudoota gara Maariyaamii dhufaneeranu keessaa hedduun waan Yesuus huje dhagganee, isatti dhugeeffatane.

⁴⁶ Isaan keessaa gariin ammoo gara Fariisaayotaa dhaqanee waan Yesuus huje itti himane.

⁴⁷ Maarre sooreyyiin hayyootaati fi Fariisaayoti kora murti'ii waamane, «Bilbaasota namichi kun hujiisatti jiru mara ilaala'a! Maan goona?

⁴⁸ Akkanumaan yoo isa lakkinne, nami maraa isatti hin dhugeeffata; worri Rooma'aalle dhufee Galma Waaqaa keennaa fi kolbaa teenna hin balleessa» jedhane.

⁴⁹ Isaan keessaa nami tokko, ka Qayyaaffaa jedhamu, ka woggaa san hayyuu guddaa te'eeru, «Isin ijjumaa wo hin beettanu;

⁵⁰ kolbaan duudiin badu'uu mannaa, nami tokko kolba'aaf du'uun isiniif woyya; isin ijjumaa tana hin hubattanuu?» isaaniin jedhe.

⁵¹ Inni ifi keessaa fuudhee tana hin jenne; woggaa san hayyuu guddaa waan te'eef, Yesuus kolbaa Yihudi'iitiif akka du'aaru raage.

⁵² Isaan gofaaf adoo hin te'in, kolbaa Waaqaa ta bittinnootte maralle wolitti rariisaaf du'a.

⁵³ Guyyaa sanii jalqabane Yihudooti baallii qabanu Yesuus ijjeesiisaaf mala dhowane.

⁵⁴ Tanaaf Yesuus Yihudaa keessa ifaataan deddeemuu hin dandeenne; ammoo achi lakkisee gara qachaa Efreem jedhamuu, ka goomole'een dhikoo jiruu dhaqee, barattoota ifii woliin achi bubbule.

⁵⁵ Yennaan Jila Irra Dabarama Yihudootaa dhikaatteertiyyu; biyya keessaa namooti hedduun jilaan dura akka aadaa dhugeeffannaa isaaniititti ifi qulqulleessu'uuf gara Yerusaalemii ol bayane.

⁵⁶ Isaan Yesuus barbaadiisatti waan jiranuuf, Galma Waaqaa keessa dhaabbatane, «Maan isinitti fakkaatti? Inni gara jilaa hin dhufu, hin dhufaa?» jedhane wol gaafatane.

⁵⁷ Sooreyyiin hayyootaatii fi Fariisaayoti akka isa qabiisa dande'anu, nami addee Yesuus jiru beeku yoo jiraate, akka himu ajaja kennaneeran.

12

Maariyaam Yesuus Fiqiree Issite

(Mat. 26:6-13; Mar. 14:3-9)

¹ Jila Irra Dabaramaatiif guyyaan jaan hafeeruun, Yesuus addee Alaazariin inni du'aa kaase le'u, Bitaaniiyaa dhage.

² Isaan achitti irbaata isaaf qopheessanee, Maartaan areerte; worra Yesuus woliin achi addee nyaataa tetee'aneeranu keessaa tokkochi Alaazar.

³ Achiin duuba Maariyaam fiqiree gatii guddo'oo ta Naardoos* qofa irraa hujante ta litirii takkaa hidha geettu fuutee, miila Yesuusii lamaanittuu naxxee, rifeensa mataa ifitiin haxxe. Fiqqeessi fiqire'ee mana duudii guute.

⁴ Barattoota Yesuusii keessaa tokko ka te'e, Yihudaan nami biyya Keriyyootii, ka isa dabarsee kennaaru,

⁵ «Fiqireen tun mindaa gara woggaa tokkootitti dhikaatu† gurgurantee maaf hiyyeeyyi'iif hin kennamin?» jedhe.

⁶ Inni waan hattuu te'eef, tana jedhe malee, marroo hiyyeeyyi'iitiif jedheetii moti. Inni korojoo beese'ee ba'ata; beese korojoo keessaalle fudhataa ture.

⁷ Yesuus ammoo, «Isiin guyyaa awwaala kiyyaatiif qophii goote waan te'eef, isii dhiisa'a.

⁸ Namooti Hiyyeeyyiin yennaa maraa isin woliin jiran, ani ammoo yennaa maraa isin woliin hin jiraadhu» jedhe.

Alaazar Ijjeesiisaaf Itti Malane

⁹ Worra Yihudootaa keessaa Kolbaan hedduun Yesuus Bitaaniiyaa akka jiru beette; maarre Yesuus qofaaf adoo hin te'in Alaazarii inni du'aa kaaselle dhaggiisaaf achi dhaxxe.

¹⁰ Sooreyyiin hayyootaa ammoo Alaazarille ijjeesiisaaf itti malane;

¹¹ sababille Yihudooti hedduun sababa Alaazariitiif isaan lakkisatee Yesuusitti waan dhugeeffataneef.

Yesuus Ulfinnaan Yerusaalem Seene

(Mat. 21:1-11; Mar. 11:1-11; Luq. 19:28-40)

¹² Boruuyyaa Gumiin guddoon Jila Irra Dabaramaatiif dhutteertu Yesuus gara Yerusaalemii akka dhufiisatti jiru dhageette.

¹³ Maarre dameelee meexxi'ii qabattee, qoonqoo guddo'oon, «Hosaa'inaa!‡ Mootiin Israa'elii ka maqaa Goota'aatiin dhufu ka eebbifame!» jedhaa isa fudhatiisaaf baate.

¹⁴ Yesuus ilmayyoo harre'ee tokko dhaggee irra tee'e. Kunille akkuma Barreeffam Woyyichi,

¹⁵ «Kolbaa Yerusaalemii, hin sodaatina'a!

Mootiin keessan kunoo ilmayyoo harre'ee irra tee'ee dhufa» jedhu.

¹⁶ Barattooti isaa jalqaba irratti kana hin hubanne; Yesuus gara ulfinnaa ol fudhatameen duuba ammoo, isaan Barreeffam Woyyichi marroo isaatiif akka kana jedhee fi isaanille kanuma akka isaaf godhane qaabatane.

¹⁷ Kolbaan yennaa inni Alaazar awwaala keessaa waamee du'aa kaasuu Yesuus woliin jirtu waan te'e dhugaa bayaa turte.

* **12:3 Naardoos:** Maqaa mukaa yookiin fiqiree muka Naardoos jedhamu irraa hujamee ti † **12:5 Mindaa gara woggaa tokkootitti dhikaatu:** Dinaara dhibba saditti ‡ **12:13 Hosaa'inaa:** Addee tanatti yaada Waaqi galatoomu jedhu qaba

¹⁸ Bilbaasa kana akka inni tolche waan dhageetteertuuf gumiin isa fud-hatiisaaf baate.

¹⁹ Kanaaf Fariisaayoti, «Ilaala'a, nuuti womaa godhuu hin dandeenne! Kunoo, biyyi lafaa duudiin isa hordofaarti!» woliin jedhane.

Giriikooti Gariin Yesuus Barbaadane

²⁰ Worra yennaa jilaa waaqonfatiisaaf gara Yersaaleemii dhaqaneeranu keessaa gariin Giriikoota.

²¹ Isaan gara nama Betsayidaa Galiilaa keessa jirtuu, gara Filiphosii dhaqanee, «Goota'a, nuuti Yesuus dhaggiisaaf barbaanna» jedhaneen.

²² Filiphos dhagee Indiryaasitti hime; Filiphosii fi Indiryaas lamaaniin dhaqanee Yesuusitti himane.

²³ Yesuus deebisee, «Yennaan Ilmi Namaa ulfaatu amma geetteerti.

²⁴ Ani dhugaa isinitti hima: Midhaan qamadi'ii yoo lafa bu'ee du'e malee, tokkochuma te'ee hafa. Yoo du'e ammoo, midhaan hedduu buusa.

²⁵ Nami jiruu ifii jaalatu jiruu ifii hin dhaba; nami biyya lafaa tana keessatti jiruu ifii jibbu ammoo jiruu bara baraatiif isii eegata.

²⁶ Nami na tajaajiluu barbaadu na hordofuu ti; tanaaf tajaajilaan kiyyalle na woliin addee ani jiru hin jiraata. Nama na tajaajilu Abbaan kiyyalle hin ulfeessa» jedhe.

Yesuus Marroo Du'a Ifii Dubbate

²⁷ Yesuus itti dabalee, «Amma lubbuun tiyya rakkatteerti, ani maan jedha? «Abba'a, yennaan tun akka natti hin dhunne oolchi jedha moo?» Akkas akka hin jenne yennaa rakkinnaa tanaaf dhufe.

²⁸ Abba'a, maqaa keeti ulfeessi!» jedhe.

Achiin duuba qoonqoon ol gubba'aa dhuttee, «Ulfeesseera, ammalle hin ulfeessa» jette.

²⁹ Gumiin achi dhaabbattee qoonqoo tana dhageette keessaa gariin, «Wonni mandiisu'u» jette; worri kuun, «Ergamaa Waaqaatitti isatti dubbate» jedhe.

³⁰ Yesuus ammoo isaaniin, «Qoonqoon tun isiniif jettee dubbatte malee, anaafii moti.

³¹ Yennaan biyya lafaa tanatti murantu amma; bulchaan biyya lafa tanaa Seexanni amma hin gatama.

³² Ani Yennaa lafa tana irraa ol kaafame, nama maraa gara kiyya harkisa» jedhe.

³³ Yesuus du'a attamii akka du'uuf jiru mudhisiisaaf tana jedhe.

³⁴ Gumiin deebittee, «Masiihiin haga bara baraa akka jiraatu seera keenna irraa dhageenneerra. Ati attamiin Masiihiin ol kaafamuu qaba jetta ree? Ilmi namaa kun eennu inni?» jetteen.

³⁵ Yesuus deebisee, «Ifi yennaa gabaaddu'uuf isin woliin hin jiraata. Dukkanti akka isin hin dhaqqanne, ifa adoo qaddanuu ideema'a; nami dukkanaa deemuu eessa akka deemiisatti jiru hin beeku.

³⁶ Ijoollee ifaa akka teetanuuf, adoo ifa qaddanuu, ifatti dhugeeffadha'a» jedheen.

Yesuus tana dubbateen duuba, biraa ideemee isaan duralle'ee ifi dhosse.

Dhugeeffannaa Dhabiisa Kolba'aa

³⁷ Yesuus addee isaan jiranutti bilbaasota kana mara hujulle, isaan isatti hin dhugeeffanne.

³⁸ Dubbiin raagichi Isaayaas, «Gootta'a, eennutti waan nuuti itti hinne dhugeeffate? Hunni Gootta'aa eennutti mudhatte?» ka jedhe akka muum-mottuuf tun teete.

³⁹ Maarre isaan dhugeeffatiisa hin dandeenne, sababille Isaayaas addee dhibiille'etti,

⁴⁰ «Itti isaanii akka hin dhaggine, gadhaan isaaniille akka hin hubanne, gara isaalle deebi'anee akka hin fayyine, Waaqi ila isaanii jaamseera; gadhaa isaaniille jabeesseera jedha» jedheera.

⁴¹ Isaayaas ulfinna Yesuusii waan dhaggeef tana jedhee marroo isaa dubbate.

⁴² Te'uu malee, Yihudooti worri baallii qabanu hedduun Yesuusitti dhugeeffatane; ammoo Mana Waaqonfannaa Yihudootaa keessaa nu baasan jedhanee, Fariisaayota waan sodaataneeff, isatti dhugeeffatuu isaanii ifa baasanee hin dubbanne.

⁴³ Isaan ulfinna Waaqa irraa dhaggachuu caalaa ulfinna nama irraa dhaggachuu jaalatane.

⁴⁴ Yesuus qoonqoo guddo'oon, «Nami natti dhugeeffatu ka na ergelle'etti dhugeeffata malee na qofatti hin dhugeeffatu.

⁴⁵ Nami na dhaggu ka na ergelle hin dhagga.

⁴⁶ Ka natti dhugeeffatu marti dukkana keessatti akka hin hanneef, ani ifa te'ee gara biyya lafaa dhufeera.

⁴⁷ Nama jecha kiyya dhage'ee hin eeganetti ka muru anaa moti; ani biyya lafaa fayyisiisaaf dhufe malee, itti muriisaaf hin dhunne.

⁴⁸ Nama na didee Jecha kiyya hin fudhannetti ka muru hin jira. Jecha ani dubbadhettuu gaafa guyyaa dhumaa itti mura.

⁴⁹ Ani baallii tiyyaan hin dubbanne; ammoo Abbaa na ergetti waan ani jedhee dubbadhu na ajaje.

⁵⁰ Ajaji isaa kun gara jiruu bara baraa akka geessu ani hin beeka. Maarre wonni ani dubbadhu, waan akka ani dubbadhuuf Abbaan natti hime» jedhe.

13

Yesuus Miila Barattoota Ifii Dhiqe

¹ Guyyaa Jila Irra Dabaramaatiin dura, Yesuus biyya lafaa tana lakkisee yennaan gara Abba'aa deemu akka geetteertu beeke. Inni biyya lafaa tana keessatti worra ka isaa te'ane yennaa mara jaalateeraayyu; haga muumme'eetittille isaan jaalate.

² Yesuusii fi barattooti isaa irbaata irra jiraniyyu. Seexanni duraanuu Yihudaan ilma Simoonii ka nama biyya Keriyoootii, akka Yesuus dabarsee kennuuf, yaada isa keessa keyeera.

³ Yesuus akka Abbaan baallii guutuu isaa kenneeru beeke; akka Waaqa biraa dhufee fi gara Waaqaalle akka deemu beeke.

⁴ Maarre inni irbaata irraa ka'ee, woyaa lafa keyatee, foomaa ittiin haxowanu hidha ifiititti marate.

⁵ Achiin duuba inni bisaan qorii itti dhiqatanutti cossee, miila barattoota ifii dhiqee foomaa hidha ifiititti marateeruun haxowe.

⁶ Simoon Pheexroos bira geyee jennaan, Simoon Pheexroos, «Gootta'a, sitti miila kiyya dhiqaa?» jedheen.

⁷ Yesuus isaan, «Waan ani hujiisatti jiru ati amma hin beettu, duubarra ammoo hin hubatta» jedhe.

⁸ Pheexroos deebisee, «Ati ijumaa miila kiyya hin dhixxu!» jedheen.

Yesuus deebisee, «Yoo ani miila keeti hin dhiqin, na biraa qooda hin qaddu» jedheen.

⁹ Simoon Pheexroos deebisee, «Gootta'a, eegasuu, miila kiyya qofaa motii, harkaa fi mataa kiyyalle dhiqi!» jedheen.

¹⁰ Yesuus deebisee, «Nami nafa dhiqate, nafi isaa duudiin qulqulluu waan te'eef, miila ifii malee, nafa dhiqachuu hin barbaachisu. Isin qulqullu'u; te'uu malee, isin marti qulqullu'uu moti» jedheen.

¹¹ Yesuus duraanuu ka isa dabarsee kennu waan beekeeruuf, «Isin marti qulqullu'uu moti» jedhe.

¹² Yesuus miila isaanii dhiqeen duuba, woyaa fudhatee uffatee, addee ifititti deebi'ee tee'ee, ««Waan ani isinii godhe hubattanee?» jedhee gaafate.

¹³ «Barsiisa'a, Goottaalle» jettanee na waantan; akkas jechuun keessan dhuguma; sababilleen aninuu akkuma san.

¹⁴ Ani, Goottaan keessanii fi barsiisaan keessan, miila keessan eega dhiqee, isinille miila wolii dhiquu qaddan.

¹⁵ Akkuma ani isiniif godhe isinille akka gootanu, fakkeenna isinii te'eera.

¹⁶ Ani dhugaa isinitti hima: Garbichi gootaa ifii hin caalu, ergantichille ka isa erge hin caalu.

¹⁷ Isin dhugaa tana beettanee, hujii irra yoo oolchitane ka badhaatane.

¹⁸ «Ani marroo isin maraatiif dubbatiisatti hin jiru; ani worra filadheeru hin beeka; ammoo Barreeffam Woyyichi, «Namichi sagalee tiyya nyaate garagalee natti ka'e!» jedhu muummowuu qaba.

¹⁹ Yennaa inni muummowe, isin akka Ani Isa te'e akka dhugeeffattanuuf, adoo inni hin te'in dura amma ani tana isinitti hima.

²⁰ Ani dhugaa isinitti hima: Nami ka ani erge fudhatu na fudhata; nami na fudhatulle ka na erge fudhata» isaaniin jedhe.

Yesuus Marroo Dabarfamee Kennamiisa Ifii Dubbate
(Mat. 26:20-25; Mar. 14:17-21; Luq. 22:21-23)

²¹ Yesuus tana dubbateeruun duuba, yaada* ifitiin rakkatee, «Ani dhugaa isinitti hima: Isin keessaa tokkochi dabarsee na hin kenna» jedhee ifa tolchee dubbate.

²² Barattooti marroo eennuutiif akka inni dubbate wollaalanee, wol ilaalane.

²³ Barattoota keessaa tokko, ka Yesuus isa jaalatu, Yesuusitti aanee tee'eeraayyu.

²⁴ Simoon Pheexroos, barataa sanitti qiphifatee, «Marroo eennuutiif akka Yesuus dubbatiisatti jiru gaafadhu» jedheen.

²⁵ Maarre tanaaf barataan sun ittuma Yesuusitti hiiqee, «Gootta'a, eennu inni?» jedhee gaafate.

²⁶ Yesuus deebisee, «Ka ani cassaa daabbo'oo tana unata† keessa cuuphee tuuqachiisu isa» jedheen; maarre inni cassaa daabbo'oo fuudhee, ilma Simoonii, Yihudaa nama biyya keriyootii tuuqachiise.

²⁷ Yihudaan akkuma cassaa daabbo'oo fudhateen, Seexanni isatti gale; Yesuus isaan, «Waan hujaartu dafii huji!» jedheen.

²⁸ Worra irbaata irra jiru san keessaa Yesuus maaf tana akka isaan jedhe nami tokkolle ka beeke hin jiru.

²⁹ Yihudaan beese waan qabatuuf, barattooti gariin jilaaf waan isaanii barbaachisu dhaqee akka bitu, yookiin hiyyeeyyi'iif waan tokko akka kennuuf, Yesuus itti hime seyane.

³⁰ Yihudaan cassaa daabbo'oo fudhatee yoosuma gad baye. Yennaan sun halkan.

Ajaja Haareya

* 13:21 Yaada: Ayyaana † 13:26 Unata: Ittoo

³¹ Yihudaan gad bayeen duuba, Yesuus, «Ilmi Namaa amma ulfaateera; Waaqille isaan ulfaateera.

³² Waaqi isaan yoo ulfaate, Waaqille isa hin ulfeessa; ariifateelle isa hin ulfeessa.

³³ Ijoollee tiyya, ani yennaa guddoo isin woliin hin jiraadhu. Isin na barbaadu'uuf jirtan; ani ammoo, «Addee ani dhaqiisatti jiru isin dhaqiisa hin dandeettanu» jedhee waanuma Yihudoota baallii qabanutti hime amma isinitti hima.

³⁴ Ani ajaja haareya isinii kenna: Wol jaaladha'a. Akka ani isin jaaladhe, isinille wol jaaladha'a.

³⁵ Isin wol yoo jaalattane, namooti marti akka isin barattoota tiyya teetane hin beekan» jedhe.

*Yesuus Akka Pheexroos Isa Mormatu Dubbate
(Mat. 26:31-35; Mar. 14:27-31; Luq. 22:31-34)*

³⁶ Simoon Pheexroos, «Gootta'a, eessa dhaqaarta?» jedhee isa gaafate. Yesuus deebisee, «Addee ani dhaqaaru amma na hordottee hin dandeettu; duuba ammoo ana hin hordotta» jedheen.

³⁷ Pheexroos, «Gootta'a, amma si hordofiisa maaf hin dandeenne? Ani lubbuu tiyyalle si'iif dabarsee hin kenna» jedheen.

³⁸ Yesuus deebisee, «Ati dhugumaan lubbuu teeti naaf dabarsitee hin kennitaa? Ani dhugaa sitti hima: Adoo lukkuun hin iyyin ati yennaa sadiin na mormatta» jedheen.

14

Karaan Gara Abba'aa Geessu Yesuus

¹ Yesuus barattoota ifitiin, «Gadhaan keessan hin raafamin, Waaqatti dhugeeffadha'a; analle'etti dhugeeffadha'a!

² Mana Abbaa kiyyaa keessa addeen leeto'oo heddu'utti jira; anille addee isiniif qopheessiisaaf deemaara. Adoo isiin hin jirre teetee ani silaa tana isinitti hin himuuyyu.

³ Dhagee addee isiniif qopheesseeruun duuba, addee ani jiru akka lee-tanuuf, deebi'ee dhufee isin fudhadha.

⁴ Karaa addee ani dhaqaaru geessu san isin hin beettan» jedhe.

⁵ Toomaas isaan, «Gootta'a, addee ati dhaqaartu nuuti hin beennu; maarre nuuti attamiin karaa achi geessu beekuu dandeenne?» jedhe.

⁶ Yesuus deebisee, «Karaan, dhuga'aa fi jiruun ana; anaan malee, eennulle gara Abba'aa hin dhufu.

⁷ Adoo na beettanee jiraattanee Abbaa kiyyalle hin beettaniiyyu. Ammaan jalqaddanee isa hin beettan, isalle dhaggitaneertan» jedheen.

⁸ Filiphos isaan, «Gootta'a, Abbaa nu'utti mudhisi; sun nu geetti» jedheen.

⁹ Yesuus deebisee, «Isin mara woliin ani yennaa dheertuu tee'eera; Filiphos! Ati haga ammaa na hin beettuu? Ka ana dhagge Abbaa dhaggeera. Ati maaf, «Abbaa nu'utti mudhisi» jetta ree?

¹⁰ Filiphos! Akka ani Abba'aan jiru, Abbaalle anaan jiru ati hin dhugeeffattuu? Ani Jecha isinitti dubbadhu, baallii tiyyaan hin dubbadhu. Abbaa, na keessa jiraatuttuu, hujii ifii huja.

¹¹ Ani Abba'aan, Abbaalle anaan akka jiru yennaa ani dubbadhe na dhugeeffadha'a. Yookiin sababa waan Ani hujeeitiif natti dhugeeffadha'a.

¹² Ani dhugaa isinitti hima: Nami natti dhugeeffatu waan ani huju hin huja; ani gara Abba'aa waan deemuuf inni waan kana caaluuyyuu hin huja.

¹³ Abbaan karaa Ilmaatiin akka ulfaatuuf, waan isin maqaa kiyyaan gaafattane mara, ani hin godha.

¹⁴ Waan mara maqaa kiyyaan yoo na gaafattane, ani hin godha» jedhe.

Marroo Ayyaana Woyyichaatiif Addii Kennante

¹⁵ Yesuus deebisee, «Isin yoo na jaalattane, ajaja kiyya hin eeggattan.

¹⁶ Ani Abbaa hin gaafadha, innille Jajjabeessaa dhibii, ka haga bara baraa isin woliin jiraatu isiniif hin kenna.

¹⁷ Inni Ayyaana dhuga'aa ti. Biyyi lafaa waan isa hin dhaggineef yookiin isa hin beenneef, isa hin fudhattu. Isin ammoo waan inni isin keessaa fi isin woliin jiraatuuf, isa hin beettan.

¹⁸ «Akka ijoollee haadhaa fi abbaa hin qannee qofi isin hin lakkisu; ani deebi'ee gara keessan hin dhufa.

¹⁹ Yennaa diggo'oon duuba biyyi lafaa deebitee na hin dhaggitu; isin ammoo na hin dhaggitan; ani jiraataa waan te'eef, isinille hin jiraattan.

²⁰ Ani Abbaa kiyyaan, isin anaan, anille isiniin akka jiru, guyyaa san hin beettan.

²¹ «Nami na jaalatu, nama ajaja kiyya fudhatee eegatu. Abbaan kiyya ka ana jaalatu hin jaalata; anille isa hin jaaladha, ifille isatti hin mudhisa» jedhe.

²² Yihudaa nama biyya Keriyoootii adoo hin te'in, Yihudaan dhibiin, «Gootta'a, biyya lafaatitti adoo hin te'in, attamiin nu'utti ifi mudhitta?» jedhe.

²³ Yesuus deebisee, «Nami na jaalatu Jecha kiyya hin eegata. Abbaan kiyya isa hin jaalata; anii fi Abbaa kiyya gara isaa dhunnee woliin hin leena.

²⁴ Nami na hin jaalanne Jecha kiyya hin eegatu. Jechi isin dhageettanu kun, ka Abbaa na ergeeti malee, kiyyaa moti.

²⁵ «Ani amma adoo isin woliin jiruu tana isinitti himeera.

²⁶ Jajjabeessaan Ayyaanni Woyyichi, ka Abbaan maqaa kiyyaan ergu, waan mara isin hin barsiisa; waan ani isinitti hime maralle isin hin qaabachiisa.

²⁷ «Nageya isin bira keya; nageya kiyyalle isiniif hin kenna. Nageenni ani isinii kennu, nageya akka biyyi lafaa isinii kennituutii moti. Gadhaan keessan hin raafamin; hin sodaatinille'e.

²⁸ «Ani deemaara, ammoo deebi'ee gara keessan hin dhufa» akka isiniin jedhe dhageettaneertan; adoo na jaalattanu teetee, Abbaan na waan caaluuf, gara Abba'aa deemuu kiyyatti silaa hin gammaddaniyyu.

²⁹ Tun yennaa teete akka dhugeeffattanuu, duraan dursee adoo tun mara hin te'in, amma isinitti himeera.

³⁰ Ka biyya lafaa tana bulchu Seexanni waan dhufiisatti jiruuf, kanatti dabalee yoona guddoo isin woliin hin dubbadhu. Inni na irratti hunna hin qabu;

³¹ ammoo akka ani Abbaa jaaladhu biyyi lafaa akka beettuuf, waan Abbaan na ajaje mara huja; ka'aa me addee tanaa deennaa» jedhe.

15

Yesuus Muka Woyni'ii Dhugicha

¹ Yesuus, «Muki woyni'ii dhugichi Ana; ka dhaabee guddisu Abbaa kiyya.

² Damee natti jirtu ta midhaan hin buunne mara inni muree hin gata; dameen midhaan buuttu ammoo caalchitte akka midhaan buuttuuf, qaccee kutee qulqulleessa.

³ Jecha ani isinitti dubbadheen isin ammumaayyuu qulqulloontaneertan.

⁴ Anaan jiraadha'a, anille isiniin hin jiraadha. Dameeleen ifumaan midhaan buuttee hin dandeettu; muka woyni'ititti yoo jiraatte qofa midhaan buutti. Akkasuma isinille yoo anaan hin jiraatin midhaan buusuu hin dandeettanu.

⁵ «Ani muka woyni'ii ti, isin dameele'e. Ka anaan jiraatu, ka anille isaan jiraadhu, inni midhaan hedduu hin buusa; anaan malee womaa godhuu hin dandeettanu.

⁶ Ka anaan hin jiraanne mara akka dameele'ee gatamee goga; dameeleen akkasii wolitti qabantee ibiddatti gatantee gubanti.

⁷ Isin yoo anaan jiraattane, jechi kiyyalle isin keessa yoo jiraate, waan feetane mara yoo gaafattane hin dhaggattan.

⁸ Midhaan hedduu isin buuttanuun Abbaan kiyya ulfaata; barattoota tiyya te'uu keessanille mudhittan.

⁹ Akkuma Abbaan kiyya na jaalate anille isin jaaladhe; jaalala kiyyaan jiraadha'a.

¹⁰ Akkuma ani ajaja Abbaa kiyyaa eegadhe jaalala isaatiin jiraadhu, isinille ajaja kiyya yoo eegattane, jaalala kiyyaan hin jiraattan.

¹¹ «Gammadi kiyya isin keessa akka jiraatuuf, gammadi keessanille guutuu akka te'uuf tana dubbadhe.

¹² Ajaji kiyya kana: akkuma ani isin jaaladhe, isinille wol jaaladha'a.

¹³ Nami tokko jiruu ifii jaalota ifitiif dabarsee kenniisa irra caalaa, jaalala caalu hin qabu.

¹⁴ Waan ani isin ajaje yoo gootane isin jaalota tiyya.

¹⁵ Haganaa achi garboota tiyya isiniin hin jedhu, sababille garbichi waan goottaan isaa godhu hin beeku. Ani waan Abbaa kiyya irraa dhage'e mara waan isinitti himeeruuf, jaalota tiyya isiniin jedheera.

¹⁶ Anatti isin filate malee, isin na hin filanne. Isin dhaxxanee midhaan jiraatu hedduu akka buuttanu, ani isin muudeera. Maarre waan maqaa kiyyaan gaafattane mara Abbaan kiyya isiniif hin kenna.

¹⁷ Eegasuu ani akka isin wol jaalattanuuf isin ajaja» jedhe.

Jibbansa Biyya Lafaa

¹⁸ «Biyyi lafaa yoo isin jibbite, isiniin duraa akka na jibbiteertu beeka'a.

¹⁹ Isin ka biyya lafaa adoo teetanee, biyyi lafaa ka isi'ii ka te'e silaa hin jaalattiyyu. Isin ka biyya lafaa waan hin te'inii fi waan ani biyya lafaa tana keessaa isin filadheef biyyi lafaa isin jibbiti.

²⁰ Jecha ani, «Garbichi gootaa ifii hin caalu» jedhee isinitti hime qaabadha'a. Na miidhanee yoo jiraatane, isinille hin miidhan; Jecha kiyyaaf ajajamanee yoo jiraatane, jecha keessanille'eef hin ajajaman.

²¹ Isaan ka na erge waan hin beenneef, isinille kiyya waan teetaneef, kana mara isin irratti godhan.

²² Adoo ani dhufee isaanitti hin dubbatin te'ee, silaa cubbuu isaanitti hin teetuuyyu. Amma ammoo cubbuu ifitiif sababa dhikeeffatanu hin qabanu.

²³ Nami na jibbu Abbaa kiyyalle hin jibba.

²⁴ Adoo hujii nami dhibiin ijjumaa hujee hin beenne odduu isaaniititti hin hujatin te'ee, silaa cubbuu isaanitti hin teetuuyyu; amma ammoo isaan waan ani huje adoo dhagganeeranuu, anaa fi Abbaa kiyyalle jibbane.

²⁵ Kunille, «Sababuma malee na jibbane» jedhamee jechi Seera isaanii keessatti barreeffame akka muummowuuf te'e.

²⁶ «Ani Ayyaana dhuga'aa Jajjabeessaa, ka Abbaa biraa dhufu, isiniif hin erga. Inni naaf dhugaa hin baya.

²⁷ Isinille jalqabaa jalqaddanee na woliin waan jirtanuuf, dhugaa hin baatan» jedhe.

16

¹ Yesuus, «Dhugeeffannaa teessan irraa akka isin hin gufanneef, ani tana maraa isinitti hime.

² Mana Waqonfannaa Yihudootaa keessaa isin baasan; nami isin ijjeesu tokko, waan Waqaaf tajaajilu yennaan itti fakkaattu hin dhutti.

³ Isaan waan Abbaa yookiin na hin beenneef waan kana mara isin irratti godhan.

⁴ Waan kana godhiisaaf yennaan isaanii yoo geette, waan ani isinitti hime akka qaabattanuuf tana isinitti hime.

«Ani isin woliin waan jiruuf, jalqaba irratti dubbii tana isinitti hin hinne» jedhe.

Hujii Ayyaana Woyyichaa

⁵ Yesuus, «Ani ammoo amma gara ka ana ergee deemaara; isin keessaa nami tokkolle, «Eessa dhaqaarta?» jedhee na hin gaafatu.

⁶ Ani waan tana isinitti himeef ammoo, gadhaan keessan gaddaan guutameera.

⁷ Ani ammoo dhugaa isinitti hima: ani yoo deeme isinii woyya; sababille ani yoo hin deemin, Jajabeessaan gara keessan hin dhufu. Ani yoo deeme ammoo, isa gara keessan hin erga.

⁸ Inni yennaa dhufe, marroo cubbu'uu, marroo balchumma'aatii fi marroo mura'aa kolbaa biyya lafaatitti hin mudhisa*.

⁹ Isaan waan natti hin dhugeeffatiniif, marroo cubbu'uu inni isaanitti hin mudhisa;

¹⁰ Ani gara Abba'aa waan deemuuf, isinille deebitanee waan na hin dhaggineef, inni marroo balchumma'aa hin mudhisa.

¹¹ Bulchaa lafa tanaatitti† waan duruu muranteertuuf, inni marroo mura'aa mudhisa.

¹² «Ani waan hedduu isinitti himu qaba, amma ammoo qalbeeffatiisa hin dandeettanu.

¹³ Ayyaanni dhuga'aa yennaa dhufe, inni gara dhuga'aa mara isin hin geessa. Inni ifirraa fuudhee hin dubbatu, ammoo waan dhage'ee fi waan dhufu'uu jiru dubbata.

¹⁴ Inni waanuma ani jedhu fuudhee waan isinitti himuuf, ulfinna naaf hin kenna.

¹⁵ Wonni Abbaan qabu martinuu tiyya; tanaaf ani, «Ayyaanni Woyyichi waanuma ani jedhe fuudhee isinitti hima» jedhee isinitti dubbadhe.

Gaddaa Fi Gammada

¹⁶ «Yennaa diqqo'oon duuba na hin dhaggitanu, ammalle yennaa diqqo'oon duuba deebitanee na hin dhaggitan» jedhe.

¹⁷ Barattoota isaa keessaa gariin, « «Yennaa diqqo'oon duuba na hin dhaggitanu, ammalle yennaa diqqo'oon duuba deebitanee na hin dhaggitan; akkasuma inni ani gara Abba'aalle waan deemuuf» nu'uun jechuun isaa kun maan?» jedhanee wol gagaafatane.

¹⁸ Ittuma deebi'anee, « «Yennaa diqqoo» jechuun kun maan? Marroo maanii akka inni dubbatiisatti jiru nuuti hin beennu» jedhane.

¹⁹ Yesuus akka isaan isa gaafatiisa barbaadane beekke, « «Yennaa diqqo'oon duuba na hin dhaggitanu, ammalle yennaa diqqo'oon duuba deebitanee na hin dhaggitan» waan ani jedheef, isin wol gagaafattanii?

* **16:8** *Hin mudhisa:* Hin kokachiisa † **16:11** *Bulchaa lafa tanaatitti:* Seexanaatitti

²⁰ Ani dhugaa isinitti hima: isin waacittanee boottan, biyyi lafaa ammoo hin gammaddi; isin hin gadditan, gaddi keessan ammoo gara gammadaa hin jijjiirama.

²¹ Dubartiin takka yennaa deyiisa geettu, yennaan ciniinsu'uu waan geet-teef hin gadditi; yennaa daa'imi dhalate ammoo, daa'imi gara biyya lafaa waan dhufeef gammaddee, rakkinna ifii deeti.

²² Isin amma gaddiisatti jirtan; ani ammoo deebi'ee isin hin dhagga; gadhaan keessan hin gammada; gammada keessan eennulle isin irraa hin fudhatu.

²³ «Guyyaa san, isin womaa na hin gaafattanu. Ani dhugaa isinitti hima: Waan isin maqaa kiyyaan Abbaa gaafattanu mara Abbaan isiniif hin kenna.

²⁴ Haga ammaa maqaa kiyyaan waan tokkolle hin gaafanne; gammadi keessan guutuu akka te'uuf, gaafadha'a hin fudhattan» isaaniin jedhe.

Injifatamuu Biyya Lafaa

²⁵ Yesuus, «Kana mara isinitti himiisaaf fakkeennaan dubbadheera. Yennaan ani fakkeennaan hin dubbanne hin dhutti; marroo Abba'aa ammoo ifa tolchee isinitti hima.

²⁶ Guyyaa san, isin maqaa kiyyaan hin gaafattan; ani Abbaa isiniif gaafadha isiniin hin jedhu.

²⁷ Isin waan ana jaalattaneef, akka ani Waaqa biraa dhufelle waan dhugeeffattaneef, Abbaanuu isin hin jaalata.

²⁸ Ani Abbaa biraa bayee gara biyya lafaa dhufe; amma biyya lafaa lakkisee deebi'ee gara Abba'aa deemaara» jedhe.

²⁹ Achiin duuba barattooti isaa, «Ati amma fakkeenaa malee, ifa tolchitee dubbatiisatti jirta.

³⁰ Amma akka ati waan mara beettu, gaaffii nami qabu adoo inni si hin gaafatinille akka beettu nuuti beenneerra. Tanaaf akka ati Waaqa biraa dhutte nuuti hin dhugeeffanna» jedhaneen.

³¹ Yesuus deebisee, «Isin amma dhugeeffattaneertanii?

³² Yennaan isin qofi na lakkittanee namuu gara mana ifi bittinnowu dhufiisatti jirti; ammaayyuu dhutteerti; ani qofii tiyya hin hafa. Abbaan na woliin waan jiruuf, ani ammoo qofi hin jiru.

³³ Anaan nageenni akka isinii te'uuf ani tana isinitti himeera. Biyyi lafaa isin hin rakkitti; ammoo jabaadha'a! Ani biyya lafaa injifadheera» jedhe.

17

Yesuus Barattoota Ifitiif Daadimate

¹ Dubbii tana dubbateen duuba, Yesuus gara ol-gubba'aa ol ilaalee, «Abba'a, yennaan geetteerti. Ilmi keeti ulfinna akka sii kennuuf, ilma keeti ulfeessi.

² Sababille worra ati isaaf kennite maraaf, jiruu bara baraa akka kennuuf, ati kolbaa mara irratti baallii isaaf kenniteerta.

³ Jiruu bara baraa jechuun si Waaqa tokkocha dhugaamessaa fi Yesuus Kiristoosii ati ergite beekiisa.

⁴ Hujii ati akka ani hujuuf natti kennite muummessiisaan lafa irratti ani si ulfeesseera.

⁵ Abba'a! Ulfinnuma adoo biyyi lafaa hin dadamin dura ani si biratti qabu san, amma ifi biratti naaf kenni.

⁶ «Biyya lafaa keessaa worra ati naaf kenniteef maqaa keeti beessiseera. Isaan keetiiyyu, ati ammoo naaf kennite. Isaan jecha keeti eegataneeran;

⁷ amma isaan wonni ati naaf kennite maraa si biraa akka dhutte beeka-neeran.

⁸ Jecha ati naaf kennite ani isaaniif kenneera; isaanille fudhataneeran; akka ani si biraa dhufe dhugumaan beekaneeran; akka ati na ergitelle dhugeeffataneeran.

⁹ «Ani isaaniif daadimadha; worri ati naaf kennite keeti waan te'aneef, isaaniif daadimadha malee, biyya lafaatiif hin daadimadhu.

¹⁰ Ka ani qabu maraa keeti, ka atille qaddu maraa kiyya; ulfinni kiyya isaaniin mudhata.

¹¹ Ani amma gara keeti dhufaara; haganaa achi biyya lafaa keessa hin jiraadhu; isaan ammoo biyya lafaa keessa jiran. Abbaa woyyu'u! Akkuma nuuti tokko teene, worri ati naaf kennitelle tokko akka te'anuuf, maqaa keeti ka anaaf kenniteen, isaan eegi.

¹² Yennaa isaan woliin jiru, maqaa keeti ka ati naaf kenniteen ani isaan eegeera; ani isaan tisseera; Barreeffam Woyyichi akka muummowuuf, isaan keessaa ilma badi'ii malee, tokkolle ka bade hin jiru.

¹³ Ani amma gara keeti dhufaara; isaan gammada kiyya guutuu akka qabaatanuuf, dubbii tana biyya lafaa keessatti dubbadha.

¹⁴ Ani dubbii teeti isaanii kenneera; akkuma ani ka biyya lafaa hin te'in, isaanille ka biyya lafaa waan hin te'iniif, biyyi lafaalle isaan jibbite.

¹⁵ Ani akka ati hamaaleessa irraa isaan eedduuf si gaafadha malee, akka ati biyya lafaa keessaa isaan baattuuf si hin gaafadhu.

¹⁶ Akkuma ani ka biyya lafaa hin te'in, isaanille ka biyya lafaatii moti.

¹⁷ Jechi keeti dhuga'a; dhuga'aan isaan woyyoonsi.

¹⁸ Akkuma ati gara biyya lafaa ana ergite, anille gara biyya lafaa isaan ergeera.

¹⁹ Isaan dhuga'aan ka woyyoomane akka te'anuu, ani isaaniif jedhee ifi woyyoonsa.

²⁰ «Worra dubbii isaanii dhage'ee natti dhugeeffatuufille gaafadha malee, isaan calla'aaf hin gaafadhu.

²¹ Ani akka isaan maraa tokko te'anuu daadimadha. Abba'a! Akkuma ati anaan jirtu anille akkuma si'iin jiru, isaanille nu'uun akka jiraatanu, akka ati na ergitelle biyyi lafaa akka dhugeeffattuuf daadimadha.

²² Akkuma atii fi ani tokko teene, isaanille tokko akka te'anuuf, ulfinnuma ati naaf kennite, anille isaaniif kenne.

²³ Ani isaaniin, atille anaan akkuma jirtu, isaanille ijjumaa tokko akka te'anuu, biyyi lafaalle akka ati na ergitee fi akkuma na jaalatte, isaanille akka jaalatte akka beettuuf daadimadha.

²⁴ «Abba'a! Ati isaan naaf kenniteerta; addee ani jiru na woliin akka isaan jiraatanu, biyyi lafaa adoo hin dadamin dura waan na jaalatteef, ulfinna ati naaf kennite, akka isaan dhagganuuf barbaada.

²⁵ Abbaa balcha'a! Biyyi lafaa si hin beenne; ani ammoo si beeka; isaan kunille akka ati na ergite beekaneeran.

²⁶ Ani akka isaan si beekanu godheera; jaalalli ati na jaalatte isaan keessa akka jiraatuuf, anille isaan keessa akka jiraadhu, ammalle ittuma akka beekanu hin godha» jedhe.

18

Yesuus Qabame

(Mat. 26:47-56; Mar. 14:43-50; Luq. 22:47-53)

¹ Yesuus daadimata kana daadimateen duuba, barattoota ifii woliin dhooqa Qedirooniitiin gama dhage. Addee san oorru'utti jira. Yesuusii fi barattooti isaa oorruu san seenane.

² Yesuusii fi barattooti isaa yennaa hedduu achitti waan wol dhagganuuf, Yihudaan dabarsee isa kenne addee san hin beekaayyu.

³ Maarre Yihudaan loltoota worra Rooma'aa, eeddota Galma Waaqaa ka sooreyyii hayyootaatiin ergamanee fi Fariisaayota guuratee gara addee oorru'uu san dhage; isaan meya woraanaa hidhatanee faanosi'ii fi xassaa qabataneeran.

⁴ Yesuus waan itti dhufaaru beekke, gara duraa itti deemee, «Eennu barbaaddan?» isaaniin jedhe.

⁵ Isaan deebisane, «Yesuusii biyya Naaziretii ti» jedhane.

Inni, «Aninuu isa» isaaniin jedhe. Yihudaan isa dabarsee kennelle isaan woliin achi dhaabbateeraayyu.

⁶ Yennaa Yesuus, «Aninuu isa» jedhe gara duubaa sissiqanee lafatti jigane.

⁷ Ammalle Yesuus, «Eennu barbaaddan?» jedhee isaan gaafate.

Isaan, «Yesuusii Naaziretii ti» jedhane.

⁸ Yesuus deebisee, «Aninuu isa» jedhee isinitti himeera. Isin, na yoo barbaadiisatti jiraattane, worra kana lakkisa'a deemanuu ti» jedhe.

⁹ Dubbiin inni tanaan dura, «Abba'a, worra ati naaf kennite keessaa tokkolle hin ganne» jedhe akka muummottuuf tana dubbate.

¹⁰ Simoon Pheexroos, shallaagaa qabateeru buqqifatee, garbicha hayyicha gudda'aa dhowee, gurra isaa middicha irraa kute. Maqaan garbicha saniille Maalkoos.

¹¹ Yesuus Pheexroosiin, «Shallaagaa keeti gonofa'atti deebisi! Muduunuu rakko'oo ta Abbaan kiyya akka ani unuuf naaf kenne ani hin unuu?» jedhe.

Yesuus Hayyicha Guddaa Dura Dhiyaate

¹² Achiin duuba loltooti worra Rooma'aa worra isaan ajajuu fi Yihudoota Galma Waaqaa eeganu woliin Yesuus qabane, hidhanee,

¹³ matooma gara Haannaas isa geessane. Haannaas abbaa-soddaa Qayyaaffa'aa ti; Qayyaaffaan bara san Hayyicha Guddaa te'eeraayyu.

¹⁴ Qayyaaffaan kunille, nami tokko kolbaa maraaf yoo du'e woyya jedhee Yihudoota baallii qabanu ka gorse.

Pheexroos Yesuus Mormate

(Mat. 26:69-70; Mar. 14:66-68; Luq. 22:55-57)

¹⁵ Simoon Pheexroosii fi barataan dhibiin Yesuus hordofane. Barataan dhibiin sun Hayyicha Guddaa biratti beekkamaa waan te'eef, Yesuus woliin gara dalleya mana hayyicha gudda'aa seene.

¹⁶ Pheexroos ammoo karra duratti hafe. Barataan dhibiin, Hayyicha Guddaa biratti beekkame sun gad bayee, durrittii karra eeddutti himee, Pheexroos ol seensise.

¹⁷ Durrittiin karra eeddu Pheexroosiin, «Ati barattoota namicha sanii keessaa tokkoo motii?» jette. Pheexroos deebisee, «Waawwo'o, anaa moti» jedhe.

¹⁸ Boojjiin waan jirtuuf, tajaajiltootaa fi worri eeddootaa ibidda cile'ee gabbisane, naannoo isaa dhaabbatanee, o'ifatiisatti jiran. Pheexroosille isaan woliin dhagee dhaabbatee o'ifate.

Hayyichi Guddaan Marroo Barattoota Isaatii fi Marroo Barsiisa Isaa

(Mat. 26:59-66; Mar. 14:55-64; Luq. 22:66-71)

¹⁹ Hayyichi guddaan marroo barattoota isaatii fi marroo barsiisa isaa Yesuus gaafate.

²⁰ Yesuus deebisee, «Ani mudhinnatti nama maratti dubbadheera; yennaa mara mana Waaqonfannaa Yihudootaatiin fi Galma Waaqaa keessatti addee

kolbaan marti wolitti qabantutti barsiiseera. Ani dhossa'atti waan tokkolle hin dubbanne.

²¹ Ati maaf na gaafatta ree? Kolbaa na dhageette gaafadhu. Isaan waan ani jedhe hin beekan» jedheen.

²² Yennaa Yesuus tana jedhe, worra eeddotaa ka achi jiranu keessaa tokko, «Hayyicha gudda'atti attam akkas deebittee dubbatta?» jedhee isa kabale.

²³ Yesuus deebisee, «Yoo ani dokonkora dubbadhee jiraadhe, dokonkora san nama as jirutti himi. Yoo ani sirrii dubbadhee jiraadhe ammoo ati maaf na dhootta?» isaan jedhe.

²⁴ Achiin duuba Haannaas, akkuma inni hidhamee jiruun, gara Qayyaaf-faa hayyicha gudda'aa isa erge.

Pheexroos Ammalle Yesuus Mormate
(Mat. 26:71-75; Mar. 14:69-72; Luq. 22:58-62)

²⁵ Simoon Pheexroos adoo achi dhaabbatee ibidda o'ifatiisatti jiruu, worri dhibiin isaan, «Atille barattoota isaa keessaa tokkoo motii?» isaan jedhane. Pheexroos ammoo, «Waawwo'o, anaa moti» jedhee mormate.

²⁶ Garboota hayyicha gudda'aa keessaa tokko, firri namicha Pheexroos gurra irraa kutee, «Isa waliin oorruu keessatti ani si hin dhagginee?» jedhee isa gaafate.

²⁷ Pheexroos ammalle mormate; yoosuma lukkuun iyyite.

Yesuus Philaaxoos Duratti Dhiyeeffame
(Mat. 27:1-2,11-14; Mar. 15:1-5; Luq. 23:1-5)

²⁸ Barii halkanii Yesuus mana Qayyaaffa'aatii gara galma bulchaa biyyaa geessane. Yihudooti baalli qabanu nyaata Jila Irra Dabaramaa nyaatiisaaf akka dande'anu, qulqullinna aadaa dhugeeffannaa isaanii eegatiisaaf waan barbaadaneef, galma bulchaa biyyaa hin seenne.

²⁹ Tanaaf Philaaxoos gara isaanii gad bayee, «Wonni isin namicha kana ittiin himattanu maan?» jedheen.

³⁰ Isaan deebisane, «Adoo inni yakkaa tokko hin hujin nuuti gara keeti isa hin finnuuyyu» jedhaneen.

³¹ Philaaxoos isaaniin, «Isinunti isa fuudha'aatii, akka seera keessaniititti itti mura'a» jedhe.

Isaan, «Nuuti nama tokkolle ijjeesu'uuf seerri nuuf hin kennu» jedhane deebisane.

³² Dubbiin Yesuus du'a attamii akka du'uuf jiru dubbate akka muummot-tuuf tun teete.

³³ Philaaxoos gara galma ifii deebi'ee seenee, Yesuus waamee, «Ati mootii Yihudootaatii?» jedhee isa gaafate.

³⁴ Yesuus deebisee, «Gaaffii tana si'umatti gaafata moo yookiin worra dhibi'itti marroo tiyya sitti hime?» jedhe.

³⁵ Philaaxoos deebisee, «Ati nama Yihudi'ii na seetaa? Kolbuma teetii fi sooreyyii hayyootaatitti gara kiyya dabarsee si kenne. Ati maan gooteerta?» jedhe.

³⁶ Yesuus deebisee, «Mootummaan tiyya ta biyya lafa tanaatii moti; adoo mootummaan tiyya ta biyya lafa tanaa teetee, akka ani worra Yihudoota baallii qabanutti dabarfamee hin kennanne, silaa hordofattooti tiyya naaf hin lolaniyyu. Mootummaan tiyya ammoo ta biyya lafa tanaatii moti» jedhe.

³⁷ Maarre Philaaxoos, «Ati mootii Yihudootaatii ree?» jedhee isa gaafannaan, Yesuus deebisee, «Akka ani mooti'ii atinuu jette. Ani marroo dhuga'aatiif dhugaa bayiisaaf dhaladhee, gara biyya lafaa dhufe. Ka dhuga'aa ka te'e na hin dhage'a» jedhe.

³⁸ Philaaxoos, «Dhugaan maan inni?» jedhee gaafate.

*Yesuusitti Duuti Murante
(Mat. 27:15-31; Mar. 15:6-20; Luq. 23:13-25)*

Achiin duuba Philaaxoos gara kolba'aa deebi'ee gad bayee, «Ani yakkaa isa himachiittu tokkolle isa irratti hin dhaggu.

³⁹ Ammoo ani yennaa Jila Irra Dabaramaa, yennaa mara nama hidhameeru tokko akka isinii hiiku barattaneertan. Mootii Yihudootaa akka ani isiniif hiiku barbaaddanii?» isaaniin jedhe.

⁴⁰ Jennaan isaan, «Waawwo'o, isaa moti! Barabbaa nuu hiiki!» jedhane itti hogisane; Barabbaan nama nama saamaa ture.

19

¹ Achiin duuba Philaaxoos Yesuus fuudhee dhaansise.

² Worri loltootaa dameelee qore'ee irraa kallacha hujanee mataa isaatitti keyane; achiin duuba woyaa dhiillee itti uffisane.

³ Gara isaalle dhufaa, «Mootii Yihudootaa jiraadhu!» jedhaa isa kakkabalane.

⁴ Philaaxoos ammalle gad bayee gumi'iin, «Waan isa himachiisu tokkolle akka ani hin dhaggin akka ilaaltanu, kunoo, gara keessan gad isa hin baasa» jedhe.

⁵ Maarre Yesuus kallacha qore'ee keyatee, woyaa dhiilleelle uffatee gad baye. Philaaxoos, «Kunoo! Namichi!» isaaniin jedhe.

⁶ Sooreyyiin hayyootaati fi eeddotti Galma Waaqaa yennaa isa dhaggane, «Fannis! Fannisi!» jedhane hogisane. Philaaxoos isaaniin, «Isin fuudha'aatii, fannisa'a. Ani yakkaa tokkolle isa irratti hin dhaggine» jedhe.

⁷ Gumiin, «Nuuti seera tokko qanna; inni ilma Waaqaa ifi godheera, akka seera keennaatitti du'uu qaba» jette.

⁸ Philaaxoos yennaa tana dhage'e, ittuma caalchisee sodaate.

⁹ Philaaxoos gara galma ifii deebi'ee, «Ati eessaa dhutte?» jedhee Yesuus gaafate.

Yesuus ammoo waan tokkolle hin deebinne.

¹⁰ Philaaxoos, «Ati natti hin hintuu? Akka ani si hiikiisaa fi si fannisi-isaafille baallii qabu hin beettuu?» isaan jedhe.

¹¹ Yesuus deebisee, «Waan Waaqaan baalliin sii kennanteef malee, ati silaa baallii na irratti hin qadduuyyu. Tanaaf nami dabarsee sitti na kenne, yakkaamessa cubbuu cubbuu caaltee ti» jedhe.

¹² Philaaxoos yennaa tana dhage'e, karaa Yesuus ittiin hiiku dhaggatiisaaf wodhaane. Gumiin ammoo, «Yoo isa hiitte, ati jaala mootii moototaa, ka biyya Rooma'aatii moti; nami mootii tokko ifi godhu marti, mootii moototaa, ka biyya Rooma'aatiin mormee isa lolu» jettee ittuma hogitte.

¹³ Philaaxoos yennaa dubbii tana dhage'e, Yesuus gad baasee, addee dhakaa baxxicha jedhantutti barcumaa mura'a irra tee'e; addeen sun afaan Ibrootaatiin, «Gabataa» jedhanti.

¹⁴ Guyyaan sun ka Jila Irra Dabaramaatiif qophowanu, gara saatii jaa ti. Philaaxoos kolba'aan, «Kunoo, mootiin keessan» jedhe.

¹⁵ Isaan, «Ijjeesi! Ijjeesi! Fannis!» jedhane ittuma hogisane.

Philaaxoos, «Mootii keessan fannisuu?» jedhee isaan gaafate.

Sooreyyiin hayyootaalle, «Nuuti mootii moototaa ka biyya Rooma'aa malee, mootii hin qannu!» jedhane deebisane.

¹⁶ Achiin duuba Philaaxoos akka Yesuus fannifamuuf dabarsee isaanitti isa kenne. Isaanille Yesuus fuudhane deemane.

*Yesuus Fannifame**(Mat. 27:32-44; Mar. 15:21-32; Luq. 23:26-43)*

¹⁷ Achiin duuba Yesuus fannoo ifii ba'atee, gara addee, «Buqqii mata'aa» yookiin afaan Ibrootaatiin, «Golgootaa» jedhantu dhage.

¹⁸ Isaan achitti isa fannisane; namoota dhibiille lamaan, maddii maddi'itti, Yesuus wodhakkaa isaaniititti fannisane.

¹⁹ Philaaxoos waan ittiin beessisu tokko barreessee fannoo gubbaa keye. Wonni inni barreesse, «Yesuus nama biyya Naaziretii, mootii Yihudootaa» jetti.

²⁰ Addeen Yesuus itti fannifame qachaa bira waan teeteef, barreeffama san kolbaa heddu'utti dubbise. Beessisi sun afaan Ibrootaatiin, afaan Rooma'aatii fi afaan Giriikiitiin barreeffame.

²¹ Sooreyyiin hayyootaa Philaaxoosiin, «Namichi kun, «Ani mootii Yihudootaa ti» jedheera jedhi malee, «Mootii Yihudootaa» jettee hin barreessin» jedhane.

²² Philaaxoos deebisee, «Ani waan barreesse barreesseera» jedhe.

²³ Loltooti Yesuus fannisaneen duuba, woyaa isaa addee afuritti goodanee, tokko tokkoon qooda ifii fudhatane. Isaan ruufalle fuudhane; ruufi isaa ammoo gubba'aa haga jalaatitti dhowameera malee, hodhaa hin qabu.

²⁴ Loltooti, «Ruufa kana hin tarsiannu; hixaa itti buufannee, akka eennu gewu ilaalluu ti!» woliin jedhane. Barreeffam Woyyichi, «Woyaa tiyya goodamane,

ruufa kiyyatti hixaa buufatane» jedhu akka muummowuuf kun te'e.

Loltootille kanuma godhane.

²⁵ Fannoo Yesuusii cinaa, haati isaa, obboleettiin haadha isaa, Maariyaamiin niitiin Qilopha'aatii fi Maariyaamiin Magdala dhaabbataneeraniyyu.

²⁶ Yesuus haadha ifitii fi barataa ifii ka jaalattu achi dhaabbatanuun yennaa dhagge, haadha ifitiin, «Haadha tiyya, inni ilma keeti» jedheen.

²⁷ Achiin duuba barattichaan, «Isiin haadha teeti» jedheen. Yennaa sanii jalqabee barattichi mana isaa akka leetuuf gara mana ifii isii fudhate.

*Du'a Yesuusii**(Mat. 27:45-56; Mar. 15:33-41; Luq. 23:44-49)*

²⁸ Yesuus amma wonni marti hobba'iisa beekke, akka Barreeffam Woyyichi muummowuuf, «Ani dheebodhe» jedhe.

²⁹ Qoriin daadhiin woyni'ii dhangaggoottu'uun guutanteertu takka achi jirtiyyu; maarre isaan ispoonjii* daadhii woyni'ii dhangaggoottuu xuux-achiisane, damee muka hisoophi jedhamuu irra keyanee, gara afaan isaa ol qabane.

³⁰ Yesuus daadhii dhangaggoottuu san unee, «Hobbaate!» jedhe.

Achiin duuba mataa gad qabatee lubbuu ifii dabarsee kenne.

Cinaachi Yesuusii Woraaname

³¹ Guyyaan sun guyyaa itti qophowanu guyyaa jimaata waan te'eef, guyyaan itti aanulle guyyaa Sanbata jila guddo'oo waan te'eef, Yihudooti baallii qabanu reeffi namootaa guyyaa Sanbataatiin fannoo gubbaa akka hin oolleef, miila worra fannifamaneeranuu cassanee, fannoo irraa gad buusiisaaf, Philaaxoos gaafatane.

³² Maarre loltooti dhaqanee miila worra Yesuus woliin fannifameeruu, dursanee miila namicha matoomaa, achiin duuba miila namicha kaaniille cassane.

* **19:29** *Ispoonjii*: Waan nafaan bisaan xuuxu

³³ Isaan yennaa gara Yesuusii dhufane ammoo, inni duraanuu akka du'eeru dhagganee, miila isaa hin cassine.

³⁴ Te'uu malee, loltoota keessaa tokkochi, woraana ifitiin cinaacha Yesuusii woraannaan yoosuma dhiigii fi bisaan keessaa jige.

³⁵ Kana ka dhagge, akka isin dhugeeffattanuuf dhugaa bayeera; dhugaan inni bayelle dhuga'a; wonni inni dubbatulle dhugaa akka teete hin beeka.

³⁶ Kun Barreeffam Woyyichi, «Lafeen isaa tokkolle hin caddu» ka jedhu akka muummowuuf te'e.

³⁷ Barreeffam Woyyichi dhibiin, «Isaan kama woraanane san hin dhaggan» jedha.

Yesuus Awwaalame

(Mat. 27:57-61; Mar. 15:42-47; Luq. 23:50-56)

³⁸ Kanaan duuba, Yoseefiin biyya Armaatiya'aa, ka Yihudoota baallii qaddu sodaatee, dhokaataan hordofataa Yesuusii te'eeru, reeffa Yesuusii fannoo irraa fuudhiisaaf Philaaxoos gaafate. Philaaxoos eeyyamee jennaan, Yoseef dhagee reeffa Yesuusii fuudhe.

³⁹ Niqoodemoos, ka duraanuu halkaniin gara Yesuusii dhufeeru, qumbi'ii fi hargiisa wolitti makame, gara kiiloogiraama soddonii afurii qabatee, Yoseef waliin addee san dhage.

⁴⁰ Namooti lamaan reeffa Yesuusii fuudhane akka aadaa Yihudooti reeffa maranutti, fiqiree waliin woyaa qoolaan marane.

⁴¹ Addee inni itti fannifame san oorru'utti jira; oorruu san keessa godi awwaalaa haarenni ka nami tokkolle itti hin awwaalaminiitti jira.

⁴² Guyyaa worri Yihudootaa itti qophowanu waan te'eef, godi awwaalaalle dhikoo waan te'eef, reeffa Yesuusii achitti awwaalane.

20

Yesuus Du'aa Ka'e

(Mat. 28:1-8; Mar. 16:1-8; Luq. 24:1-12)

¹ Guyyaa dilbataa ganama, barii halkan, Maariyaamiin qachaa Magdala'aa gara goda awwaalaa dhaxxee, dhakaan afaan goda awwaalaa irraa fuudhameeruun dhaggite.

² Isiin gara Simoon Pheexroosiitii fi barataa kaanii, ka Yesuus isa jaalatee, rukkittee dhaxxee, «Goottaa goda awwaalaa keessaa fuudhaneeran; isaan eessa akka isa keyaneeranu nuuti hin beennu» jettee isaanitti hinte.

³ Achiin duuba Pheexroosii fi barataan kuun gara goda awwaalaa dhagane.

⁴ Isaan lamaanuu waliin rukkisanee, barataan kuun ammoo Pheexroos caalaa ariifatee rukkisee, dursee goda awwaalaa bira geye.

⁵ Inni gad jedhee woyaa qoolaa ta ittiin marante achitti dhagge malee, keessa hin seenne.

⁶ Simoon Pheexroos isa duubaan dhufee, boolla awwaalaa keessa seenee, woyaa qoolaatii

⁷ fi woyaa mataa Yesuusiititti maraneeranulle achitti dhagge. Woyaan mataa Yesuusiititti maraneeranu, woyaa qoolaa ta ittiin marane waliin adoo hin te'in qofuu marantee achi jirti.

⁸ Achiin duuba barataan Pheexroos dursee goda awwaalaa bira geye kuunille, keessa seenee, dhaggee dhugeeffate.

⁹ Isaan Barreeffama Woyyicha, «Inni du'aa ka'uu qaba» jedhu haga ammaa hin hubanne.

¹⁰ Achiin duuba barattooti lamaan sun gara manaa deebi'anee galane.

Yesuus, Maariyaamii Qachaa Magdala'aatitti Mudhate
(*Mat. 28:9-10; Mar. 16:9-11*)

¹¹ Maariyaam goda awwaalaatiin ala dhaabbattee bowiisatti jirtiyyu. Adoo bowiisatti jirtuu, gad jettee goda awwaalaa keessa ilaaltee,

¹² ergantooti Waaqaa lamaan uffana adii uffatanee, addee reeffi Yesuusii dur jiru, tokkochi gara mata'aatiin, kuun gara miilaatiin tee'aneeranuun dhaggite.

¹³ Isaan, «Dubartii tana, maaf bootta?» jedhanee isii gaafatane.

Isiin deebittee, «Goottaa kiyya fuudhaneeran; eessa akka isa keyaneeranu ani hin beeku!» jette.

¹⁴ Achiin duuba isiin garagaltee Yesuus achi dhaabbateeruun dhaggite; ammoo akka inni Yesuus te'e hin beenne.

¹⁵ Yesuus, «Dubartii tana, maaf bootta? Ati eennu barbaadda?» jedhee isii gaafate.

Isiin, nama oorruu eegu isa seetee, «Goottaa kiyya, ati yoo isa asii fuutee jiraatte, eessa akka isa keette natti himi, ani dhaqee isa fudhadhaa» jetteen.

¹⁶ Yesuus, «Maariyaam» isi'iin jedhe. Isiin gara isaa garagaltee afaan Ibrootaatiin, «Rabbunii» jetteen; akkas jechuun, «Barsiisaa» jechu'u.

¹⁷ Yesuus, «Ana hin qabin! Sababille ani haga ammaa gara Abba'aa ol hin baane. Ammoo gara obboleeyyan tiyyaa dhaqiitii, «Ani gara Abbaa kiyyaatii fi Abbaa keessanii, gara Waaqa kiyyaatii fi Waaqa keessanii ol bayaara» jedhiitii isaanitti himi!» jedhee isi'itti hime.

¹⁸ Maarre Maariyaamiin gara qachaa Magdala'aa dhaxxee akka Goottaa dhaggiteertuu fi waan inni isi'itti hime barattootatti hinte.

Yesuus Barattoota Ifititti Mudhate
(*Mat. 28:16-20; Mar. 16:14-18; Luq. 24:36-49*)

¹⁹ Dilbata san galgala, barattooti Yihudoota baallii qabanu waan sodaata-neef, wolitti dacha'anee balbala cufataneeranuun, Yesuus dhufee odduu isaanii dhaabbatee, «Nageenni isiniif te'u!» jedhe.

²⁰ Tana jedheen duuba, cinaacha ifitii fi harka ifii lamaan isaanitti mudhise. Barattooti Goottaa waan dhagganeef guddoo gammadane.

²¹ Yesuus ammalle, «Nageenni isiniif te'u. Akkuma Abbaan na erge, anille isin erga» isaaniin jedhe.

²² Achiin duuba inni hafuura isaanitti baafatee, «Ayyaana Woyyicha fudhadha'a!

²³ Isin yoo cubbuu kolba'aa araarantane, isaan araara hin dhaggatan; isin yoo hin araaramin, isaan araara hin dhaggatanu» jedhe.

Yesuusii Fi Toomaas

²⁴ Barattoota kudhanii lamaan keessaa, Toomaas, «Lakkuu» ka jedhame, yennaa Yesuus dhufe isaan waliin hin jiru.

²⁵ Maarre barattooti dhibiin, «Nuuti Goottaa dhaggineerra!» jedhanee itti himane.

Toomaas isaaniin, «Madaa misimaaraa harka isaa lamaaniituu dhaggee, quba kiyya yoo keye malee, madaa cinaacha isaa keessalle harka kiyya yoo keye malee, ani hin dhugeeffadhu» jedhe.

²⁶ Torbaan tokkoon duuba ammalle barattooti isaa wolitti qabamanee mana keessa jiraniyyu; Toomaasille isaan waliin jira. Balbalti cufanteertuun, Yesuus ammoo dhufee odduu isaanii dhaabbatee, «Nageenni isiniif te'u» jedhe.

²⁷ Achiin duuba inni Toomaasiin, «Quba keeti as fidii irra keyii, harka kiyya lamaan ilaali; harka keetille diriirsiitii madaa cinaacha kiyyaa keessa keyi. Dhugeeffadhu malee, hin mamin!» jedhe.

²⁸ Toomaas deebisee, «Gootaa kiyya, Waaqa kiyya!» jedhe.

²⁹ Yesuus isaan, «Waan na dhaggiteef dhugeeffattee? Worri adoo ana hin dhaggin dhugeeffatu ka badhaadhe!» jedhe.

Kaayoo Kitaaba Kanaa

³⁰ Yesuus bilbaasota hedduu, ka kitaaba kana keessatti hin barreeffamin, barattoota ifii duratti hujeera.

³¹ Bilbaasoti kun ammoo akka Yesuus Masiihii te'ee fi Ilma Waaqaalle te'e, itti dhugeeffatiisaan maqaa isaatiin jiruu akka dhaggattanu barreeffamane.

21

Yesuus Barattoota Torbatti Mudhate

¹ Kanaan duuba, Yesuus qarqara abbaayaa Xiberiyaasiititti ammalle barattoota ifiititti mudhate. Akki inni itti mudhatelle akkas:

² Simoon Pheexroos, Toomaas, «Lakkuu» ka jedhame, Naataanaa'el nami qachaa Qaana'aa ka lafa Galiila'aa, ilmaan Zabdewoosiitii fi barattooti Yesuusii ta dhibiin lamaan woliin jiraniyyuu.

³ Simoon Pheexroos, «Ani qurxummii guuriisa dhaqaara» isaaniin jedhe. Isaanille, «Nuutille si woliin dhandhaa» jedhaneen. Maarre isaan gad bayanee hoboloo yaabane. Halkan san ammoo waan tokko hin qabanne.

⁴ Yennaa aduun baatu, Yesuus qarqara bisaanii dhaabbate; barattooti ammoo akka Yesuus te'e hin beenne.

⁵ Achiin duuba inni isaaniin, «Ijoolle! Qurxummii woyii qaddanii?» jedhee isaan gaafate.

Isaan, «Waawwo'o» jedhane deebisane.

⁶ Inni isaaniin, «Hobolo'oon gara middaatitti caccoo teessan buusa'a, hin guurattan» jedhe. Isaanille caccoo buusane qurxummii hedduu waan qabaneef, harkisuu dadhabane.

⁷ Barataan Yesuus isa jaalate, Pheexroosiin, «Goota'aa be!» jedhe. Pheexroos akka inni Gootaa te'e yennaa dhage'e, woyaa facaafatu ta ifi irraa baafateeru uffatee gara abbaaya'aa utaale.

⁸ Barattooti kuun gara ciqilee dhibba lamaa callaa lafa irraa waan fagaata-neeranuuf, caccoo qurxummiin guutte harkisaa, hoboloo keessa tee'anee, gara qarqara abbaaya'aa dhufane.

⁹ Isaan yennaa qarqaratti bayane, daabbo'oo fi qurxummii kashila cile'ee irra jirtu achitti dhaggane.

¹⁰ Achiin duuba Yesuus isaaniin, «Qurxummuma amma qabattane irraa fida'a» jedhe.

¹¹ Simoon Pheexroos hoboloo yaabee, caccoo qurxummiin gugurdoon dhibbaa fi shantamii sadii keessa guutte, gara lafaa harkise; adoo qurxummiin haga kana heddattuu, caccoon hin tarsaane.

¹² Yesuus isaaniin, «Kowa'aa diiranteeffadha'a!» jedhe. Isaan Gootaa te'uu isaa waan beekaneef, barattoota keessaa tokkolle, «Ati eennu?» jedhee gaafatiisaaf ka itti game hin jiru.

¹³ Maarre Yesuus dhufee, daabboo fuudhee, isaaniif kenne; qurxummiille akkasuma godhe.

¹⁴ Yesuus eega du'aa ka'e, barattootatti mudhatuun isaa tun yennaa sadeesso'oo ti.

Yesuusii Fi Pheexroos

¹⁵ Diiranteeffatanee ka'aneeranuun duuba, Yesuus Simoon Pheexroosiin, «Simoonii ilma Yohaannisii^{*}, worra kana caalaa na jaalattaa?» jedhe.

Inni, «Ee, Goottaa, akka si jaaladhu atuu hin beetta» jedhee deebise.

Yesuus isaan, «Ilmoolee tiyya dheedisiisi[†]» jedhe.

¹⁶ Yesuus lammeessoo, «Simoonii ilma Yohaannisii, na jaalattaa?» jedheen.

Inni, «Ee, Gootta'a, akka si jaaladhu atuu hin beetta» jedhee deebise.

Yesuus, «Buruusoo tiyya tissi» jedheen.

¹⁷ Yesuus yennaa sadeesso'oo, «Simoonii ilma Yohaannisii, na jaalattaa?» jedhe.

Pheexroos waan inni sadeessoo, «Ana jaalattaa?» jedhee isa gaafateef gaddee, «Gootta'a, ati waan mara beetta; akka si jaaladhu atuu hin beetta» jedheen;

Yesuus, «Hoolee tiyya bobbaasi.

¹⁸ Ani dhugaa si'iin jedha: Ati yennaa dargaggeessaa, hidhattee gara barbaadde deentaayyu; yennaa dulloonte ammoo, harka keeti diriirfatteen, nami dhibiin sitti hidhee gara ati hin jaalanne si geessa» jedheen.

¹⁹ Yesuus tana jedhiisaan, Pheexroos du'a attamii du'ee Waaqa akka ulfeessu'uuf jiru mudhise. Achiin duuba Yesuus, «Na hordofi!» isaan jedhe.

Yesuusii Fi Barataa Jaalatamaa

²⁰ Pheexroos garagalee barataan Yesuus isa jaalatu kuun Yesuus hordofuun dhagge; barataan kun ka irbaata irratti gara Yesuusii ittuma hiiqee, «Gootta'a, ka dabarsee si kennaaru eennu inni?» jedhee gaafate.

²¹ Pheexroos yennaa isa dhagge, «Gootta'a, namichi kun maan te'a ree?» jedhee Yesuus gaafate.

²² Yesuus, «Haga ani dhufutti akka inni le'u ani yoo fedhe maanti si dhibe? Na hordofi» jedheen.

²³ Maarre oduun, «Barataan kun hin du'u» jettu worra Yesuus hordofu oddu'utti odeeffante. Yesuus ammoo, «Haga ani dhufutti akka inni le'u ani yoo fedhe maanti si dhibe?» jedhe malee, inni hin du'u hin jenne.

²⁴ Ka waan kana dhugaa bayee fi ka waan kanalle barreesse baratuma kana; nuutille wonni inni dhugaa baye dhugaa akka teete hin beenna.

²⁵ Wonne Yesuus huje dhibiin heddu'utti jira. Marti isi'iituu tokko tokkoon adoo barreeffantee jiraattee, silaafuu biyyi lafaa duudiin kitaabota barreeffamanu kana dandeettee hin ba'attuuyyuu jedhee herrega.

* **21:15** Woraabbiin durii gariin «Yoonaa» jedhan † **21:15** Dheedisiisi: Kunuunsi

Hujii Ergantootaa Seensa

Kitaab Hujii Ergantootaa Wongeela Luqaasiititti ka aaneeru; yaad gudaan kitaaba kanaa, hordofattooti Yesuusii ta qaraa Ayyaana Woyyichaan sooreffamanee Oduu Gammadaa ta waan isaa dubbatu «Yerusaalemitti, lafa Yihuda'aa duudi'itti, Samaariya'atti, haga muummee lafaalle» (1:8) attam akka badhisane ka himu. Kitaab kun dhugeeffannaan Kiristaanaa odduu worra Yihudootaatitti jalqabantee, kolbaan biyya lafaa ta dhugeeffatte haga teetutti attam akka badhatte dabarsii hintu. Barreessaan kitaaba kanaa, Kiristaanoti mootummaa mootii mootota Rooma'aatiin bultu qoxxisiisaaf keessa keessa roorrisaa akka hin jirree fi dhugeeffannaan kiristaanaa, dhugeeffannaa worra Yihudootaa ta mijeessitu akka teete hubachiisiisaaf wodhaansa jabaa tolcheera.

Kitaab hujii Ergantootaa, ka marroo Oduu Gammadaa dubbatu, addee isiin dhaqqaddu yennuma yenna'aan badhataa akka deentee fi hundeeffamiisa wolde'a kiristaanaa ta mudhittu kutaa gugurdoo saditti qoodamuu dande'a:

1. Yesuus gara ol gubba'aa bayeen duuba, Yerusaalem keessatti marroo jalqabama dhugeeffannaa kiristaanaa.
2. Marroo dhugeeffannaan lafa Israa'elii duudii dhaqqabiisaa.
3. Biyyoota adaala abbaayaa Mediteraaniya'aa jirtu keessatti, biyya Rooma'aalle dabalatee, marroo babadhatiisa dhugeeffannaa kiristaanaa.

Hujii Ergantootaa keessatti wonni ifa te'ee mudhatu, hujii Ayyaana Woyyichaa yoo teetu, guyyaa Pheenxeqosxe'ee, kiristaana Yerusaalem keessa jiru irratti Ayyaanni Woyyichi hunnaan akka bu'e, akkasuma kitaabuma kana keessatti hujii tokko lama'aan barreeffanteen akkuma mudhate, Ayyaanni Woyyichi wolde'a kiristaanaatii fi sooreyyii wolde'a kiristaanaalle akka sooressee jajjabeesse hin dabalata. Ergaan kiristaanaa ta durii, lallaba adda addaa keessatti gabaabumatti dhikaatteerti. Hujii kitaaba hujii ergantootaa keessatti galmeeffantelle, ergaan tun jiruu dhugeeffattootaatii fi tokkummaa wolde'a kiristaanaa keessatti hunna qaddu mudhitti.

Haadhoo Dubbi'ii

Dhugaa bayiisaaf qophowiisa **1:1-26**

Waada'aa fi ajaja Yesuusii ka muummee irraa **1:1-14**

Ka addee Yihuda'aa bu'e **1:15-26**

Dhugaa baya Yerusaalem keessaa **2:1-8:3**

Dhugaa baya Yihuda'aa fi Samaariyaa keessaa **8:4-12:25**

Tajaajila ergamummaa Phawuloosii **13:1-28:31**

Deemiisa ergamumma'aa ka qaraa **13:1-14:28**

Yaa'ii Yerusaalem keessaa **15:1-35**

Deemiisa ergamumma'aa ka lammeesso'oo **15:36-18:22**

Deemiisa ergamumma'aa ka sadeesso'oo **18:23-21:26**

Hidhama Phawuloos Yerusaalem, Qiisaariya'aa fi Roomaa keessatti hidhame **21:17-28:31**

¹ Ulfaataa Tewoofloos!

Kitaaba kiyya ka kanaan duraa keessatti marroo waan Yesuus hujjeetii fi barsiise duudii barreesseera. Wonni ani barreesseelle gaafa Yesuus hujii ifii jalqabeen kaasee,

² haga guyyaa gara ol gubba'aa bayeetitti waan huje; inni ergantoota filateef, ajaja ifii karaa Ayyaana Woyyichaatiin kenneen duuba gara ol gubba'aa baye.

³ Yesuus du'a ifitiin duuba akka jiraataa te'e, deddeebi'ee karaa hin mansiinneen mirkaneessaa haga guyyaa afurtamaa isaanitti mudhatee, marroo Mootummaa Waaqaalle isaanitti dubbate.

⁴ Inni isaan woliin adoo jiruu, «Addii Abbaan kiyya isiniif kenne, ta ani isinitti hime san eegadha'a malee, Yersaaleemii hin bayina'a» jedhee isaan ajajaje.

⁵ Ede'eelle Yesuus, «Yohaannis bisaaniin isin cuuphe; guyyaa diqqa'aan duuba ammoo Ayyaana Woyyichaan cuuphantan» jedhe.

Yesuus Gara Ol-gubba'aa Fudhatame

⁶ Yennaa wolitti qabamane ergantooti Yesuusiin, «Goota'a, ati ammaa tana Israa'eliif Mootummaa deebittee kennaartaa?» jettee gaafatte.

⁷ Yesuus isaaniin, «Yenna'aa fi bara Abbaan kiyya baallii ifitiin murteesse beekuu hin dandeettanu;

⁸ ammoo yennaa Ayyaanni Woyyichi isin irratti bu'u, hunna hin dhaggatatan; yennaa san Yersaaleemitti, lafa Yihuda'aa duudi'itti, Samaariya'aa fi biyya lafaa duudi'itti dhugaa bayoota tiyya hin teetan» jedhe.

⁹ Yesuus kana jedheen duuba, adoo isaan isa ilaalanuu gara ol-gubba'aa fudhatame; duumensille isaan duraa isa golle.

¹⁰ Isa ol bayiisatti jiru, ila hin caffatin adoo ilaaliisatti jiranuu, namooti lamaan ka woyaa adii uffataneeranuu cinaa isaanii dhaabbatanee,

¹¹ «Isin namoota Galiila'aa, maaf asi dhaabbatanee gara gubba'aa ilaaltan? Yesuusiin isin duraa gara ol-gubba'aa fudhatame kun, gara ol-gubba'aa bayaaruun akkuma dhaggitane akkanuma deebi'ee hin dhufa» jedhane.

Nama Addee Yihuda'aa Filame

¹² Achiin duuba ergantooti gaara Ejersaa jedhamu irraa gara Yersaaleemii deebi'ane; gaarri Ejersaa Yersaaleem irraa gara kiiloo meetira tokko* fa-gaata.

¹³ Isaan qachaa guddicha seenanee, gara kolloo mana mana gubba'aa ol bayane. Isaanille Pheexroos, Yohaannis, Yaaqoob, Indiryaas, Filiphoos, Toomaas, Bartolomewoos, Maatewoos, Yaaqoobii ilma Alfewoosii, Simoonii hinaattichaa fi Yihudaa ilma Yaaqoobii fa'a.

¹⁴ Isaan duudiinuu dubartoota, Maariyaamii haadha Yesuusiitii fi obboleeyyan isaa woliin wolitti qabamanee, yaada tokkoon daadimataarani-iiyyu.

¹⁵ Guyyaa diqqa'aan duuba, Pheexroos woli geyii dhugeeffattoota gara dhibbaa fi diddamaa geettu tokko keessa dhaabbatee,

¹⁶ «Obboleeyyan tiyya, Barreeffama woyyicha keessatti, marroo Yihudaa worra Yesuus qabeef soressaa te'ee, dubbiin Ayyaanni Woyyichi afaan Daawitiitiin dubbateeru muummowuu qaddiiyyu.

¹⁷ Yihudaan qooda hujii teennaa nu woliin akka qabaatu waan filameeruuf, golii teenna te'eeraayyu.

¹⁸ Namichi kun beesee hujii hammeenna ifitiin dhaggate saniin, fichaa bitate; inni mata'aan lafa dhowee nafi isaa dho'ee, meen gadha'aa jige.

1:4 Luq. 24:29 1:5 Mat. 3:11; Mar. 1:8; Luq. 3:16; Yoh. 1:33 1:8 Mat. 28:19; Mar. 16:15; Luq. 24:47-48 1:9 Mar. 16:19; Luq. 24:50-51 * 1:12 Kiiloo meetira tokko: Deensa guyyaa Sanbataa 1:13 Mat. 10:2-4; Mar. 3:16-19; Luq. 6:14-16 1:18 Mat. 27:3-8

¹⁹ Worri Yersaaleem keessa le'anuu duudiiin waan kana dhage'ane; maarre isaan lafa san afaan ifitiin «Akeldaamaa» jedhane; akkas jechuulle «Lafa dhiigaa» jechu'u.

²⁰ «Kitaaba Faaru'uu keessatti,
«Manni isaa ona te'uu ti;
eenulle keessa hin le'in», akkasuma,
«Nami dhibiille soorressummaa isaa fudhatuu ti»
jedhantee barreeffanteerti.

²¹ Tanaaf yennaa Gootaan Yesuus odduu teennatti deddeebi'e duudi'itti nama nu waliin jiru keessaa,

²² akkasuma cuuphaa Yohaannisiitiin jalqabee, haga guyyaa Yesuus nu biraa ol fudhatameetitti, worra nu waliin jiru kana keessaa tokkochi, du'aa ka'a Yesuusiitiif, nu waliin nama dhugaa bawu te'uu barbaachisa» jedhe.

²³ Maarre isaan nama lamaan Yoseef ka barsaabaas yookiin Yosxos jedhamee waamamuu fi Maatiyaas dhikeessane.

²⁴⁻²⁵ Achiin duuba isaan, «Goota'a, ati yaada nama duudi'ii beetta; nama lamaan kana keessaa, addee Yihudaan lakkisee gara addee ifii deemetti, ergamaa te'ee akka tajaajiluuf ka filatte nu'utti mudhisi» jedhaa daadi-matane.

²⁶ Achiin duuba isaan namoota lamaan keessaa tokko fiiisaaf hixaa yenna buusane, hixaan Maatiyaas dhaqqabe. Maarre inni ergantoota kudhanii tokkotti dabalame.

2

Bu'iisa Ayyaana Woyyicha

¹ Jilti guyyaa shantameesso'oo ta «Phenxeqosxee» jedhantu yennaa geette, dhugeeffattooti duudiiin addee tokkotti wolitti qabamaneeraniyyu.

² Dedhuma huuruun akka bubbee guddo'oo fakkaattu ol-gubbaa irraa dhuttee, mana isaan keessa jiranulle guutte.

³ Achiin duuba wonni bobe'a ibiddaa fakkaatu isaanitti mudhate; gargar cicciteelle tokko tokkoo isaanii gubba'atti bu'e.

⁴ Isaan duudiiinuu Ayyaana Woyyichaan guutamanee, haga inni isaan dandeessisetti afaan adda addaatiin dubbatuu jalqabane.

⁵ Yihudooti Waaqa sodaatanu ka biyya biyya lafaa keessa jirtu mara irraa dhufane Yersaaleem keessa jiraniyyu.

⁶ Yennaa huuruu tana dhage'ane, gumiin guddoon wolitti qabante. Dhugeeffattooti afaan adda addaatiin dubbatanuun yennaa dhage'ane, isaan maadeffatane.

⁷ Isaan baaseffataa maadeffataa, «Kunoo worri akkana dubbataaranu duudiiin worra Galiilla'aatii motii?

⁸ Attamiin ree isaan afaan keenna ka dhalootaatiin dubbatanuun, tokko tokkoon keenna dhageenna?

⁹ Nuuti worra biyya Phaarte'ee, Meediya'aa, Elaamii, Mesophotaamiya'aa, Yihuda'aa, Qaphadooqiya'aa, Phanxoosii, Asiya'aa,

¹⁰ Firiigiya'aa, Phinfiliya'aa, Gibxiitii fi lafa Liibiya'aa ta adaala qachaa Qereena'aa jirtu keessa leenu; gariin keenna worra biyya Rooma'aatii dhunne,

¹¹ worra Yihudi'iitii fi worra Yihudii hin te'in ka dhugeeffannaa Yihudi'iititti galle; akkasuma worri Qarxeesiitii fi Arabaa jiran; kunoo isaan martinuu hujii baasaa ta Waaqi huje afaan keennaan dubbataaranuun dhageenna» jedhane.

¹² Isaan baaseffatanee, waan jedhanu dhabanee, «Wonni kun maan jechu'u?» jedhaa wol gagaafatane.

13 Worri dhibiin ammoo, «Kolbaan tun daadhii woyni'ii untee machoot-teerti!» jedhaa itti murge.

Dubbii Pheexroos Dubbate

14 Yennaa san Pheexroos worra kudha tokko woliin dhaabbatee qoonqoo ol qabatee, gumi'iin, «Worri Yihuda'aatii fi isin worri Yerusaalem keessa leetanu duudiin, waan te'e kana beekiisaaf waan ani isiniin jedhu dhage'a'a.

15 Amma ganama keessa saatii sad waan teeteef, kolbaan tun akka isin heddane san machoottee hin jirtu.

16 Tun ammoo afaan raagicha Yo'eliitiin,

17 «Guyyaa muumme'ee ani akkana tolcha jedha Waaqi:
nama duudii irratti Ayyaana kiyya hin buusa.

Ijoolleen teessan ta dhiiraatii fi ta durraa hin raagan;
dargaggeeyyiin teessan mudhii hin dhaggiti,
Maanguddooti teessanille oojjuu hin oojjatan.

18 Guyyoota san keessatti, garboota dhugeeffatane*
ta dhiiraatii fi ta dubarti'ii irrattuu,
Ayyaana kiyya hin buusa;
isaanille raaga hin dubbatan.

19 Ani ol-gubba'atti baasa,
gad lafa irralle'etti bilbaasa hin mudhisa;
Dhiigaa fi ibiddi, hurrantaan aaraalle hin mudhata.

20 Guyyaan Goota'aa guddichii fi
ulfaataan adoo hin dhufin dura,
aduun hin dukkanti;
jiinille diimaa akka dhiigaa te'a.

21 Nami maqaa Goota'aa waamu duudiin hin fayya» jedhe.

22 «Worra Israa'elii dubbii tana dhage'a'a! Akkuma isin beettanu, eennummaan Yesuusii Naaziretii, hujii gugurdoo baasaa fi bilbaasota Waaqi karaa isaatiin odduu teessanitti muummesse mirkanootteerti.

23 Nami kun akka Waaqi dur murteessee fi beekeen, harka keessanitti dabarfamee kenname; akka inni harka worra cubbaleyyi'iitiin fannifamee du'u gootane.

24 Waaqi ammoo hunna du'aa jalaa bilisa baasee, du'aa isa kaase; sababille duuti isa qaddee hamburuu hin dandeenne.

25 Daawiti marroo isaatiif,
«Ani yennaa mara Waaqa ifiin duratti dhagga;
Inni midda kiyya waan jiruuf ani hin daaqu.

26 Tanaaf gadhaan kiyyalle gammadeera;
arrabi kiyyalle gammadaan guutameera.

Akkasuma nafi kiyya du'aan
addi'iin jiraata.

27 Lubbuu tiyya addee worra du'aneetitti hin lakkittu;
ati garbicha addatamaa keeti,
addee awwaalaa keessatti akka tortoree hafu hin lakkittu.

28 Ati karaa jiru'uu natti mudhitteerta;
Ana woliin jiraatuun keeti gammadaan na guutta» jedha.

29 «Obboleeyyan tiyya, abbootii teenna ta qaraa keessaa marroo mooticha Daawitii ifa godhee isinitti hima. Inni du'ee awwaalameera; awwaalli isaalle haga ammaa asi nu'u bira jira.

* 2:18 *Garboota dhugeeffatane*: Tajaajiltoota tiyya 2:23 Mat. 27:35; Mar. 15:24; Luq. 23:33; Yoh. 19:18 2:24 Mat. 28:5-6; Mar. 16:6; Luq. 24:5

³⁰ Daawiti raagicha waan te'eef, Waaqi sanyii isaa keessaa tokko hin moosisa jedhee kaku'uun waadaa akka galeeruuf beekeera.

³¹ Tanaaf Daawiti waan Waaqi gara duraa godhu dhaggee, marroo du'aa ka'iisa Masiihiitiif, «Inni addee awwaalaa keessatti isa hin lakkinne; foon isaalle awwaala keessatti hin tortorre» jedhee raageera.

³² Waaqi Yesuusii kana du'aa kaaseera; nuuti duudiille waan te'eeru kanaaf dhugaa baatota.

³³ Inni gara midda Waaqaa Abba'aatitti ol fudhatamee, Ayyaana Woyyicha isaaf waadaa galame, Abbaa biraa fuudhee erge; ka isin amma dhaggitanuu fi dhageettanu kun isa.

³⁴⁻³⁵ Daawiti gara ol-gubba'aa hin baane; teetuu malee inninuu, «Gootaan Gootaa kiyyaan,

haga ani diinota keeti ijata miila keeti jala godhutti,
asi maddii midda kiyyaatitti tee'i» jedhee dubbateera.

³⁶ «Tanaaf Yesuusii isin fannittane, Waaqi Goota'aa fi Masiihii akka godhe kolbaan Israa'elii duudiin dhugumaan beettuu ti!» jedhe.

³⁷ Kolbaan yennaa waan kana dhageette, wonni kun gadhaa isaan nyaatee, Pheexroosii fi ergantoota dhibi'iin, «Jarana maan goona?» jette.

³⁸ Pheexroos isaaniin, «Cubbuu teessaniif akka araarri kennamu, tokkoon tokkoon keessan cubbuu teessan irraa deebitane, maqaa Yesuus Kiristoosiitiin cuuphama'a; kennansa Waaqaa, Ayyaana Woyyicha hin fudhattan.

³⁹ Waadaan Waaqi gale isiniif, ijoollee teessaniif, worra fagoo jiranuu fi worra Gootaan Waaqi keenna waameefille'eef» jedhee deebise.

⁴⁰ Pheexroos jecha hedduu dhibi'iin dhugaa isaanitti bayee, «Dhaloota badaa kanatti waan dhufu'uu jiru jalaa ifi baasa'a» jedhe gorse.

⁴¹ Worri hedduun waan inni jedhu dhugeeffatee cuuphame; gaafas dhugeeffattooti gara kuma sadii dabalaman.

⁴² Isaan guyyaa mara barattoota irraa barataa, tokkumma'aan le'aa, sagalee waliin areerratiisaa fi daadimatiisaan jabaataa turane.

Jireenna Dhugeeffattootaa

⁴³ Baasaa fi bilbaasi hedduun karaa barattootaatiin yennaa san waan hujamiisatti jiruuf, martinuu soda'aan guutamane.

⁴⁴ Dhugeeffattooti duudiin addee tokko waliin jiraniyyu; waan qabanu maralle waliin geyane.

⁴⁵ Isaan karraa fi meya ifii gurgurane, tokko tokkoofuu akka barbaachittetti beesee qoqoodane.

⁴⁶ Guyyaa guyya'aan Galma Waaqaa keessatti addee tokkotti wolitti qabamaa mana ifii keessalle'etti daabboo caccaffataa, gammadaa fi gadhaa qullu'uun areerrataa,

⁴⁷ Waaqalle leellifataa, nami duudiille isaan ulfeessaayyu. Gootaalle guyyuma guyya'aan worra fayyanu isaanitti dabale.

3

Namichi Naafi Tokko Fayye

¹ Gaafa tokko Pheexroosii fi Yohaannis yennaa daadimataa saafowa saatii sagalitti, gara Galma Waaqaa deemane.

² Achi «Karra miidhadduu» jedhantu dura, namichi haga dhalatee jalqabee naafa te'e tokko jiraayyu; inni worra Galma keessa seenanu irraa akka beesee kadhatuuf guyyaa mara ba'atane balbala dura isa keyan.

³ Inni Pheexroosii fi Yohaannis gara keessaa seenaaranuun yennaa dhagge, akka woy isaa kennanuuf kadhate.

⁴ Pheexroosii fi Yohaannis isa hubatanee ilaalanee, Pheexroos «Ol jedhii nu ilaal» jedheen.

⁵ Maarre inni isaan irraa waan wo dhaggatu seyye, hubatee isaan ilaale.

⁶ Pheexroos ammoo, «Ani beesee* hin qabu; waan qabu ammoo si'iif hin kenna; maqaa Yesuus Kiristoosii Naaziretiitiin ka'ii ideemi» jedhe.

⁷ Achiin duuba inni harka middicha isaa qabee ol kaase; yoosuma miilaa fi gulubiin† isaa jabaatte.

⁸ Inni ol utaalee miilaa ifitiin dhaabbatee, ideemiisa jalqabe; Galma Waaqaa keessa isaan woliin seenee, asii fi achi deemaa u'utaalaa Waaqa leellifate.

⁹ Nami duudiin inni ideemaa Waaqa leellifatuun dhaggane.

¹⁰ Isaan inni kadhataa karra «Miidhadduu» jedhantu dura tee'ee kadhata kan akka te'e yennaa beekane, waan namicha irratti te'e kanatti maalalanee baaseffatane.

Waan Pheexroos Galma Waaqaa Keessatti Dubbate

¹¹ Yennaa namichi fayye sun Pheexroosii fi Yohaannis biraa hafuu dide, gumiin duudiin jajjee gara addee «Soroo‡ Solomoonii» jedhantuu rukkitte.

¹² Pheexroos gumii wolitti qabante san dhaggee, «Worra Israa'elii maaf waan kana baaseffattan? Maaf nu hubattanee ilaaltan? Nuuti hunna teennaan yookiin hujii teenna dansa'aan nami kun akka ideemu waan goone seetanii?» isaaniin jedhe.

¹³ Waaqi abbootii teennaa, ka Abrahaamii, ka Yisihaqiitii fi ka Yaaqoobii, ilma ifii Yesuus ulfeesseera. Isin ammoo harka Philaaxoosiititti dabarsitanee kennitane; Philaaxoos isa lakkisiisaaf barbaadulle, isin isa diddane.

¹⁴ Isin ammoo Yesuusii Woyyichaa fi balchichaa diddane, ka nama ijjeese akka hiikamuuf gaafattane.

¹⁵ Isin ka jiruu kennu ijjeettane; Waaqi ammoo du'aa isa kaase. Nuuti waan kanaaf dhugaa baatota.

¹⁶ Namicha naafa te'e kanaaf hunna jabeennaa ka kenne hunna maqaa Yesuusii ti. Wonni isin dhaggitanuu fi beettanu maqaa Yesuusiititti dhugeffatiisaan teete; akkuma isin duudiin dhaggitanu wonni isa fayyise, dhugeffannaa inni Yesuusitti qabu.

¹⁷ «Ammalle obboleeyyan tiyya, waan Yesuus irratti gootane, isinille akkuma bulchitoota teessanii wollaalchaan akka gootane hin beeka.

¹⁸ Waaqi bara heddu'uun dura Masiihiin akka rakkattu afaan raagota maraatiin ka dubbate, karaa kanaan akka muummottu godheera.

¹⁹ Maarre akka inni cubbuu teessan isiniif araaramu cubbuu irraa deebi'aatii, gara Waaqaa dacha'a'a.

²⁰ Waaqa irralle'ee barri isin itti haareffantanu hin dhufa; Waaqi masiihii dursee isiniif file Yesuus isiniif hin erga.

²¹ Inni haga yennaan waan duuchi'ii hareffamiisaa geettutti, akkuma Waaqi karaa raagota woyyootaatiin woggaa heddu'uun dura lallabe olgubba'atti turuu qaba.

²² Muuseen, «Gootaan Waaqi keessan akkuma amma na kaase, kolbaa teessan keessaa raagaa tokko isiniif hin kaasa; waan inni isinitti himu mara dhage'a'a.

* **3:6 Beesee:** Meeti'ii fi worqii † **3:7 Gulubiin:** Komettuun ‡ **3:11 Soroo:** Barandaa manaa, gimoo, sissaabii, gaaddisa jala deddeebi'anuu

²³ Nami raagicha san dhage'uu didu duudiin, kolbaa Waaqaa irraa adda bayee hin bada» jedheera.

²⁴ Raagoti Saamu'eliin jalqabane ka'anee fi dubbatane duudiinuu, waan bara kanaa dubbataneeran.

²⁵ Isin sanyii raagotaati; akkasuma gondoosoo Waaqi abbaa keessan Abrahaamiin, «Ani karaa sanyii teetiitiin kolbaa lafaa duudii hin eebbisa» jedhee gondoore worra dhaalu.

²⁶ Tanaaf Waaqi karaa hamaa keessan irraa deebisee isin eebbisu'uuf, tajaajilaa ifi Yesuus filee dursee isiniif erge» jedhe.

4

Pheexroos Fi Yohaannis Kora Mura'aa Dura Dhikaatane

¹ Pheexroosii fi Yohaannis adoo kolba'atti dubbatiisatti jiranuu hayyooti, dura buutoti eeddota Galma Waaqaatii fi Saduqooti itti dhufane.

² Ergantooti lamaan akka Yesuus du'aa ka'ee fi worri du'elle akka du'aa ka'u waan kolbaa barsiisaneef, jarri tun isaanitti aarte.

³ Maarre isaan Pheexroosii fi Yohaannis qabane, latti waan dhiiteertuuf haga bariitu mana hidha'aa galchane.

⁴ Ammoo worra jecha isaanii dhage'e keessaa worri hedduun dhugeeffate; laakkossi worra dhugeeffatee gara kuma shanii guddate.

⁵ Boruyyaa sooressitooti Yihudootaa, jaarsole'ee fi barsiisoti Seera Muuse'ee Yerusaalem keessatti wolitti qabamane.

⁶ Worra wolitti qabame san keessa hayyichi guddaan Haannaas, Qayyaafaan, Yohaannis, Iskindsosii fi maatiin Hayyicha gudda'aalle achi jiran.

⁷ Isaan Pheexroosii fi Yohaannis ifiin dura dhaabbachiisane, «Hunna maaniitiin yookiin maqaa eennuutiin Kana gootane?» jedhane gaafatane.

⁸ Pheexroos Ayyaana Woyyichaan guutamee, «Isin bulchitooti kolba'aatii fi jaarsoleen,

⁹ marroo waan dansaa namicha naafa kanaaf godhamee nu gaafattanii? Ka isa fayyiselle eennu akka te'e nu gaafattanii?

¹⁰ Namichi amma fayyee isin dura dhaabbatu kun, maqaa Yesuus Kiristoosii nama Naaziretiitiin akka fayye, marti keessanii fi kolbaan Israa'elii martinuu beeka'a! Isin Yesuus fannittanee ijeettane; Waaqi ammoo du'a keessaa isa kaase.

¹¹ Inni dhakaa isin worri mana ijaaru tuffattane, ka ammoo dhakaa dhakaa mara caalu ite'e.

¹² Fayyinni karaa Yesuus Kiristoosii qofaan malee, karaa dhibi'iin hin jiru; akka nuuti ittiin fayyinuuf, maqaan Waaqi namootaaf kenne, isa qofa malee, biyya lafaa duudii irra ka dhibiin hin jiru» jedhe.

¹³ Pheexroosii fi Yohaannis sodaa malee akka dubbatane miseensoti koraa yenna dhaggane, akka isaan barumsa guddaa hin qanne waan beekanuuf, worri kora mura'aa baaseffatane. Teetu malee akka isaan Yesuus waliin turaneeranu isaaniif gale.

¹⁴ Ammoo namichi fayye sun, Pheexroosii fi Yohaannis waliin dhaabbateeruun waan dhagganeef waan jedhanu dhabane.

¹⁵ Maarre isaan akka Pheexroosii fi Yohaannis mana mura'aa keessaa gad bayanu ajajane, achiin duuba waliin mari'atiisa jalqabane,

¹⁶ «Jara tana maan goona? Bilbaasi kun karaa isaaniitiin akka hujame namooti Yerusaalem keessa jiranu duudiin hin beekan, bilbaasi kun hin teene jennee hin dandeenu.

¹⁷ Ammoo wonni kun akka hin babadhanne, maqaa Yesuusiitiin ijjumaa deebi'anee nama tokkolle'etti akka hin dubbanne, kowa'a isaan seerraa» jedhane.

¹⁸ Achiin duuba isaan Pheexroosii fi Yohaannis ammalle gara keessaa deebisane waamanee maqaa Yesuusiitiin ijjumaa akka hin dubbanne yookiin hin barsiinne itti himane.

¹⁹ Pheexroosii fi Yohaannis ammoo deebisane, «Waaqaaf ajajamiisa irra isiniif ajajamiis Waaqa duratti sirri'ii? Me isinuu mura'a.

²⁰ Nuuti waan ifii dhagginee fi dhageenne himiisa hin lakkinnu» jedhane.

²¹ Maarre Korri mura'aa jabeessee isaanitti seeree akkanumaan isaan gad lakkise; kolbaan duudiin sababa bilbaasa te'eetiif waan Waaqa leellisiisatti jirtuuf, karaa dande'anee isaan adabanu hin dhaganne.

²² Namichi bilbaasi kun irratti hujame woggaan isaa afurtama caala.

Dhugeeffattooti Akka Hin Sodaanne Daadimatte

²³ Pheexroosii fi Yohaannis akkuma gad lakkifamaneen, gara jara ifii deebi'anee waan sooreyyiin hayyootaati fi jaarsoleen Yihudootaa isaaniin jedhane itti himane.

²⁴ Isaan tana yennaa dhage'ane, qoonqoo ifii addee tokkotti ol qabatanee daadimataan gara Waaqaa, «Goota'a, ol-gubbaa, lafa, Abbaaya'aa fi waan isii keessa jiru duudii ka dade si'i.

²⁵ Ayyaana Woyyichaan, afaan garbicha keeti Abbaa abbootii teennaa Daawitiitiin,

«Worri Yihudoota hin te'in maaf aarane?

Kolbaan mala bu'aa hin qanne maaf dhootte?

²⁶ Moototi lafaa ifi qopheeffatane,

bulchitootille wolitti qabamane,

Goota'aa fi Masiihii isaa irratti ka'ane» ka jette si'i.

²⁷ «Dhugumaan qachaa kana keessatti Heroodisii fi Phonxoos Philaaxoos, worra Yihudoota hin te'inii fi kolbaa Israa'elii waliin, tajaajilaa keeti Woyyicha, ka ati Masiihii goote Yesuusitti ka'ane.

²⁸ Isaan waan ati hunna teetii fi fedhii teetiin akka teetuuf murteertu muummessane.

²⁹ Ammalle Goota'a, sodaachisaa* isaanii tana ilaali, nuuti tajaajiltooti teeti sodaa malee akka dubbannu nu godhi.

³⁰ Karaa maqaa tajaajilaa keeti woyyicha Yesuusiitiin dhibee irraa akka fayyanu, baasaa fi bilbaasi akka godhamu harka keeti diriirsi» jedhane.

³¹ Isaan daadimataneen duuba, addeen isaan itti wolitti qabamane tachoote. Isaan duudiin Ayyaana Woyyichaan guutamanee sodaa malee jecha Waaqaa lallabane.

³² Dhugeeffattooti martinuu yaadaa fi gadhaa tokkoon jiraniyyu. Isaan keessaa nami tokkolle, «Kun kiyya» waan jedhu hin qabuuyyu; isaan waan qabanu mara wolumaan qabaniyyu.

³³ Ergantooti hunna guddoon du'aa ka'iisa Gootaa Yesuusii dhugaa bayane. Waaqille isaan mara irratti eebba guddaa jisseeraayyu.

³⁴ Isaan keessa rakkataan tokkolle hin jiru. Worri lafa yookiin mana qabanu martinuu gurgurane beesee fidanee,

³⁵ ergantootatti kennaniyyu; ergantootille akka barbaachisaa te'etti beesee tokko tokkoofuu qoqoodaniyyu.

³⁶ Lewwichi tokko, ka Yoseef jedhamu, Qophiroositti ka dhalate, ka ergantooti «Baarnaabaas» jettee waantu tokko jiraayyu; akkas jechuun «Ka nama jajjabeessu» jechu'u;

³⁷ inni lafa qabu gurguree, beesee fidee ergantootatti kenne.

5

Anaaniyaasii Fi Saafiraa

¹ Namichi Anaaniyaa jedhamu tokko jiraayyu; inni haadha manaa ifii Saafiraa waliin lafa qabanu takka gurgurate.

² Ammoo haadha manaa ta ifii waliin wolii galiisaan beesee irraa hamburatee, taan fidee ergantootatti kenne.

³ Pheexroos isaan, «Anaaniyaas! Akka ati Ayyaana Woyyicha sodduu fi beesee lafa itti gurgurate akka hambifattu, seexanni yaada keeti akka toowatu maaf itti lakkitte?

⁴ Adoo ati hin gurgurin dura, latti teetumaa motii? Eega gurgurteen duuballe beeseen teetumaa motii? Maaf waan akkasii tolchiisaaf yaadatte ree? Ati Waaqa sodde malee, namaa moti» jedheen.

⁵ Anaaniyaas akkuma jecha kana dhage'een, jigg'e du'e; worri marroo waan kanaa dhage'ane duudiille bararaqane.

⁶ Dargaggooti dhufanee, reeffa isaa maranee, geessanee awwaalane.

⁷ Gara saatii sadiitiin duubatti, haati manaa isaa waan te'eeru adoo hin beekin dhutte.

⁸ Pheexroos isi'iin, «Me natti himi, beeseen isin lafa teessan itti gurguratane haguma kanaayyu?» jedhee gaafate;

Isiille deebittee, «Eti, haguma kana» jetteen.

⁹ Maarre Pheexroos isi'iin, «Atii fi Abbaan manaa keeti Ayyaana Gootta'aa haga ilaaliisaaf maaf wolii galtane? Namooti Abbaa manaa keeti awwaalane kunoo ammaa balbala dura jiran, isaan si'ille ba'atanee hin baasan» jedhe.

¹⁰ Isiin yoosuma miila Pheexroosii jalatti jiddee duute. Dargaggooti yenna dhufane duuteertuun dhagganee, ba'atanee baasane abbaa manaa isi'ii biratti awwaalane.

¹¹ Wolde'ooti kiristaanaatii fi worri waan kana dhage'ane duudiin bararaqane.

Baasaa Fi Bilbaasa

¹² Baasaa fi bilbaasi hedduun kolbaa oddu'utti ergantootaan hujamane. Dhugeeffattooti duudiin soroo* manaa ka Solomoonii jalatti wolitti qabamaniyyu.

¹³ Worra dhibii keessaa isaanitti makamiisaaf ka itti game tokkolle hin jiru; te'ulle kolbaan isaan ulfeessitiyyu.

¹⁴ Ammoo worri Gootta'atti dhugeeffatane gumiin hedduun dhiiraa fi dubartiin isaanitti ede'amane.

¹⁵ Yenna Pheexroos karaa san dabaru gaaddiddummaan isaalle isaan keessaa tokko tokko akka tuxxuuf, worra dhibameeru taqe'ee fi itille'een fidanee karaa irra keyane.

¹⁶ Kolbaan qachoota adaala Yersaaleemii jiranu, worra dhibameeruu fi worra ayyaana hama'aan qabameeru fidane; isaan martinuu fayyane.

Ergantoota Irratti Miidhaan Kaate

¹⁷ Achiin duuba Hayyichi gudda'aa fi worri isa waliin jiru, ka isa gaaranu saduqoota duudii waliin hinaaffa'aan guutamanee ergantoota irratti ka'ane.

* 5:12 Soroo: Galoo

¹⁸ Isaan ergantoota qabanee mana hidha'aatitti galchane.

¹⁹ Halkan san ammoo ergamaan Waaqaa balbala mana hidha'aa banee, ergantootaan dura deemaa, gad baasee, isaaniin,

²⁰ «Dhaqa'aatii Galma Waaqaa keessa dhaabbadha'aa, marroo jiruu haareya tanaa, kolba'atti hima'a» jedhe.

²¹ Isaan dubbii tana fudhatanee, akkuma latti bariiteen Galma Waaqaa seenanee barsiisuu jalqabane.

Hayyichi guddaan worra isa gargaaranu woliin dhufee, miseensota kora mura'aatii fi jaarsota Yihudootaa wolitti waamee, ergantoota worra hidhamaneeranu san fichisiisu'uuf gara mana hidha'aa nama erge.

²² Worri ergamane ammoo, barattoota mana hidha'aa keessaa dhabanee, gara Kora Mura'aa deebi'anee,

²³ «Nuuti yennaa mana hidha'aa geenne, balbalti jabeeffantee cufantee, eeddoti balbala dura jiranuun dhaggine; ammoo yennaa balbala banne, namuu keessatti hin dhaggine» jedhane.

²⁴ Sooreyyiin hayyootaatii fi dura bu'aan eeddota Galma Waaqaa yennaa waan kana dhage'ane, waan ergantoota irratti te'e baaseffatanee, waan godhanu wollaalane.

²⁵ Achiin duuba nami tokko dhufee isaaniin, «Dhage'a'a! Namooti isin mana hidha'aa galchitane Galma Waaqaa keessatti, kolbaa barsiisiisatti jiran!» jedhe.

²⁶ Maarre dura bu'aan Galma Waaqaa worra isa woliin huju woliin dhagee ergantoota fidee dhufe. Isaan kolbaan dhaka'aan nu tunti jedhanee waan sodaataneeff, hunnaan hin finne.

²⁷ Isaan ergantoota fidanee, Kora Mura'aa dura dhaabbachiisane, hayyichi guddaan isaan qoree,

²⁸ «Akka isin maqaa Yesuusiitiin hin barsiinne, jabeessinee isin seerreerraayyu, ammoo waan hujjane ilaala'a! Barsiisa keessan Yerusaaalem duudii keessa babadhittaneertan; du'a isaatile'eef worra itti gaafatamu nu godhi isa barbaaddan» jedhe.

²⁹ Pheexroosii fi ergantooti worri dhibiin deebisane, «Nuuti namaaf ajajamuu irra, Waaqaaf ajajamuu qanna.

³⁰ Waaqi Abbootii teennaa, Yesuusii isin muka irratti fannittanee iijeettane du'aa kaaseera.

³¹ Akka Yesuus kolbaa Israa'elii cubbuu irraa deebisee araara cubbu'uu kennuuf, Waaqi soressaa fi fayyisaa godhee midda ifiititti ol isa fuudheera.

³² Nuuti waan kanaaf dhugaa baatota; Ayyaanni Woyyichi, ka Waaqi worra isaaf ajajamuuf kennulle dhugaa baya'a» jedhane.

³³ Korri Mura'aa yennaa waan kana dhage'ane, guddoo aaranee ergantoota ijeesiisa barbaadane.

³⁴ Isaan keessaa ammoo Fariisaayichi, barsiisaa Seera Muuse'ee te'e, maqaan isaa Gamaali'el ka jedhamu, ka nami duudiin guddoo ulfeessu tokko, Kora Mura'aa keessaa ol ka'ee, ergantoota san yennaa diqqoo ala akka tursiisanu ajaje.

³⁵ Achiin duuba inni kora Mura'aatiin, «Kolbaa Israa'elii! Waan jara tana gootanu irratti ifi eegadha'a.

³⁶ Tanaan dura namichi Toyidaas jedhamu ka'ee, ani nama jaba'a ifiin jedhe; namooti gara dhibba afurii te'anuu isa woliin hujane. Ammoo inni ijeefamee, worri isa woliin huju duudiin bittinnowanee, wonni sun achumatti dhumatte.

³⁷ Akkasuma Yihudaan namichi Galiila'aa, bara kolbaan laakkowante ka'ee, namooti hedduun akka isa hordofanu godhe, ammoo innille ijjeefamee jennaan, hordofattooti isaa duudiin bittinnootte.

³⁸ Maarre ammalle, jara tana irratti waan hantuu tokkolle akka hin goone ani isinitti hima. Isaan lakkisa'a! Wonni isaan yaadanee hujane nama irraa yoo teete, hin baddi;

³⁹ ammoo yoo ta Waaqa irraa dhutte teete, isaan balleessuu hin dandeettanu; isin ifiifuu Waaqaan loltanuun ifi dhaggitan» jedheenii jennaan, isaanille gorsa Gamaali'elii fudhatane.

⁴⁰ Isaan ergantoota ol waamanee deebisane, dhaanane, lammeessoo maqaa Yesuusiitiin akka hin dubbanne ajajane; achiin duuba gad lakkisane.

⁴¹ Ergantooti Yesuusiif farriisaa fi salphatiisa akka waan dansa'aatitti laakkowanee, gammadaan Kora Mura'aa biraa gad bayane.

⁴² Isaan guyyuma guyya'aan Galma Waaqaa keessaa fi mana kolba'aa keessatti, Oduu Gammadaa ta Yesuusii Masiihiicha te'ee, barsiisiisaa fi lallabiisa hin lakkinne.

6

Namooti Ergantoota Gargaaranu Torba Filamane

¹ Yennaa diqqo'oon duuba laakkossi barattootaa akkuma heddataa deemeen, Yihudooti afaan Giriikii dubbatanu Yihudoota biyya Yihuda'aatitti dhalatane irratti gungumane; haadhotiin hiyyeessaa ta Yihudoota afaan Giriikii dubbatanuu, qarqaarsa guyyaa guyya'atti dhaggataa turane waan dagatamaneef gungumane*.

² Maarre ergantooti kudhanii lama dhugeeffattoota duudii wolitti waamane, «Nuuti sagalee goodiisaaf jennee Jecha Waaqaa lallabiisa irraanfatuun nu'uuf hin malle.

³ Maarre obboleeyyan, namoota hujii tana itti kenninu, worra maqaa dansaa qabu, ka Ayyaanni Woyyichii fi qarummaan keessa guutte, odduu teessanii namoota torba fila'a.

⁴ Nuuti ammoo daadimataa fi hujii Jecha Waaqaa lallabiisaatiif yennaa teenna mara kennina» jedhane.

⁵ Nami duudiin yaada ergantootaa jaalatee, Isxifaanos ka jedhamu dhugeeffanna'aa fi Ayyaanni Woyyichi ka keessa guute filane; akkasuma Filiphosii fi Phirokoros, Niqaaroona'aa fi Ximoonaa, Pharmena'aa fi Niqolawosii nama biyya Anxokiya'aa ka dhugeeffannaa Yihudootaa dur fudha-teerulle filane.

⁶ Isaan worra kana duudii ergantoota dura dhaabbachiisane; ergantootille harka ifi isaan irra keyanee daadimatane.

⁷ Jechi Waaqaa badhataa deeme, laakkossi dhugeeffattootaa Yerusaalem keessatti guddataa guddataatuma deeme; hayyooti hedduulle dhugeeffatane.

Isxifaanos Qabame

⁸ Isxifaanos badhaadhaa fi hunna Waaqaatiin guutamee baasotaa fi bilbaasota guddaa odduu kolba'aatitti huje.

⁹ Yennaa san Yihudooti miseensota, «Mana waqonfannaa worra bilisa bayee» jedhamuu, worri Qareena'aatii fi Iskindiriya'aa, worri biyya Qiliqiya'aatii fi Asiya'aatii dhufane tokko ka'anee Isxifaanositti falmane.

¹⁰ Te'uu malee, qarumma'aa fi Ayyaana Isxifaanos ittiin dubbatu mormiisa hin dandeenne.

* **6:1** *Gungumane: Himatane*

¹¹ Maarre isaan, «Dubbii Muuse'ee fi Waaqa faanshessitu isaa dubbatu dhageenneerra» akka jedhanuuf namoota dhossa'aan itti tirtirsane.

¹² Akkuma kanaan isaan kolbaa, jaarsole'ee fi barsiisota Seera Muuse'ee itti tirtisane, Isxifaanos qabanee fuudhanee kora mura'aa dura dhi-keessane.

¹³ Achiin duuba isaan namoota garii ka dharaan dhugaa isa irratti bayanu fidane. Dhugaa baatoti dharaa tuun, «Namichi kun, Galma Waaqaa woyyicha keennaa fi Seera Muuse'ee irratti yennaa mara morma.

¹⁴ «Yesuusiin nama Naaziretii Galma Waaqaa hin diiga, aadaa Muusee irraa gad nu'uuf dhuttelle duudii hin jijjiira» jedhuun dhageenneerra» jedhane.

¹⁵ Worri Kora mura'aa keessa tee'eeru duudiin hubatanee Isxifaanos yennaa ilaalanu, fuulli isaa akka fuula ergamaa Waaqaa te'ee dhaggane.

7

Dubbii Isxifaanos Dubbate

¹ Hayyichi guddaan, «Wonni siin jedhanu kun dhuga'aa?» jedhee Isxifaanos gaafate.

² Isxifaanosille deebisee, «Obboleeyyanii fi abbootii tiyya, na dhage'a! Abbaan keenna Abrahaam lafa Kaaraanii le'iisaaf adoo hin deemin dura, ulfinni Waaqaa Mesophotaamiyaa keessatti isatti mudhatee,

³ «Fira keetii fi biyya teeti lakkisiitii gara lafa ani si'itti mudhisuu deemi» jedheen.

⁴ Achiin duuba inni biyya ifii Kaldiyaa lakkisee, Kaaraan keessa le'iisaaf deeme. Abbaan isaa du'een duuba, Waaqi gara lafa amma isin leetanu tanaa isa fide.

⁵ Teetuu malee Waaqi lafa haga faana miilalle isaaf hin kennine; ammoo yennaa san Abrahaam ilma qabaatuu dhabulle, Waaqi lafa san isaa fi sanyii isaatiif akka kennu, waadaa galeeraayyu.

⁶ Waaqi karaa kanaan Abrahaamiin, «Sanyiin teeti lafa ormaa keessa galtuu teetee hin leeti; achitti garboontee haga woggaa dhibba afurii hin cunqurfanti.

⁷ Ani ammoo kolbaa isaan garboonsite sanitti hin mura; achiin duuba sanyiin teeti lafa san keessaa baatee asitti na hin waaqonsiti» jedheera.

⁸ Achiin duuba Waaqi gondoosoo haqanqaba'aa Abrahaamiif kenne; maarre Abrahaam ilmi isaa Yisahaq dhalateen duuba, guyyaa saddeetessoo haqanqabaa qabe; akkasuma Yisahaqille ilma ifii Yaaqoob haqanqabaa qabe; Yaaqoobille abbootii gosa Israa'elii ka te'ane, ilmaan ifii kudhanii lama haqanqabaa qabe.

⁹ «Ilmaan Yaaqoobii obboleessa ifii Yoseef hinaattee, garba akka te'uuf biyya Gibxiititti isa gurgurte; Waaqi ammoo isa woliin jiraayyu;

¹⁰ rakkoo mara keessalle'ee isa baase. Yoseef mooticha lafa Gibxi'ii Fara'oon dura yennaa dhikaate, Waaqi arnyaa fi qarooma isaaf kenne; mootichille bulchaa biyya Gibxi'iitii fi ajajaa qabeenna mana ifii isa godhe.

¹¹ Bara san biyya Gibxi'iitii fi Kana'aanii maratti beelti rakkoo guddoo fidde; abbootiin teennalle waan nyaattu dhaggatuu hin dandeenne.

¹² Yaaqoobille biyya Gibxi'ii keessa midhaan akka jiru yennaa dhage'e, yennaa jalqabaatiif, abbootii teenna ka te'ane, ilmaan ifii achi erge.

¹³ Yennaa isaan lammeessoo dhaqane, Yoseef eennummaa ifii obboleeyyan ifiititti hime; mootichi biyya Gibxi'iille maatii Yoseefii beeke.

¹⁴ Maarre Yoseef, worri duudiin nami torbaatamii fi shan martinuu, gara biyya Gibxi'ii akka dhufanu, abbaa ifii Yaaqoobitti erge.

¹⁵ Tanaaf Yaaqoob gara biyya Gibxi'ii dhaqee, innii fi ilmaan isaalle achitti du'ane.

¹⁶ Lafeen isaanii gara lafa Sheekem jedhantu geeffantee, addee awwaalaa lafa Abrahaam beese ifitiin gosa Hamoorii irraa bitetti awwaalante.

¹⁷ «Waadaan Waaqi Abrahaamiif gale muummowisaaf yennaa dhikaate, laakkossi kolbaa teennaa ka biyya Gibxi'ii keessaa heddataa deeme.

¹⁸ Muummee irratti, mootichi marroo Yoseefii hin beenne tokko biyya Gibxi'ii bulchiisa jalqabe.

¹⁹ Mootichi kun abbootii teenna gowwoonsee gadhaa itti jabaatee, daa'immaan isaanii akka duutuuf, ala baasanee akka gatanu dirqansiise*.

²⁰ Bara san Muuseen dhalate; inni daa'ima shaggicha; haga ji'a sadii mana abbaa ifii keessatti guddate.

²¹ Inni yennaa alatti gatame, intalti Fara'oonii isa fuutee, akka ilma ifititti gudditte.

²² Muuseen qarooma worra Gibxi'ii duudii baratee dubbi'ii fi hujile'een nama jabaa te'e.

²³ «Inni woggaa afurtama yennaa geye, kolbaan Israa'elii akka itti jirtu ilaaliisaaf yaadate.

²⁴ Muuseen yennaa namichi biyya Gibxi'ii tokko nama Israa'elii tokko miidhuun dhagge rogeefii, namicha biyya Gibxi'ii dhowee ijjeese.

²⁵ Muuseen karuma isaatiin Waaqi bilisa akka isaan baasu, kolbaan waan hubattu seyeeyyu; isaan ammoo hin hubanne.

²⁶ Boruuyaa nami lama ka gosa Israa'elii wol lolanuun dhaggee, wolitti araarsiisaaf barbaadee, «Jarana, isin obboleeyyan; maaf wol loltan?» jedheen.

²⁷ Namichi lola kaase ammoo Muusee achi darbee, «Nu'u irratti eentu bulcha'aa fi abbaa mura'aa si godhe?

²⁸ Akkuma kalee namicha Gibxi'ii ijeette, analle ijjeesuu barbaaddaa?» jedheen.

²⁹ Muuseen yennaa tana dhage'e, biyya Gibxi'ii keessaa dheetee, gara lafa Miidiya'aa galee le'e. Achitti ijoollee lama uumate.

³⁰ «Woggaa afurtamaan duuba, lafa goomole'ee keessatti Gaara Siina'aa biratti bobee'a tusee gabbattuu keessatti, ergamaan Waaqaa Muuse'etti mudhate.

³¹ Muuseen waan kana yennaa dhagge baaseffatee, ilaaliisaaf itti dhikaate. Ammoo inni qoonqoo Goota'aa,

³² «Ani Waaqa abbootii teetii, Waaqa Abrahaamii, Waaqa Yisihaqiitii fi Yaaqoobii ti» jettu dhage'e. Muuseen soda'aan rorommee, ilaaliisaafille itti hin gamne.

³³ Gootaan Muuse'een, «Addeen ati dhaabbatteertu lafa woyyittii waan teeteef, kophee teeti baafadhu.

³⁴ Ani dhugumaan rakkinna kolbaa tiyyaa ta biyya Gibxi'ii keessaa dhaggeera. Ani iyya isaanii dhage'eera; isaan bilisa baasiisaafille gad dhufeera. Amma koy; ani gara biyya Gibxi'ii si ergaara» jedhe.

³⁵ «Kolbaan Israa'elii Muuse'een, «Nu irratti eentu bulcha'aa fi abbaa mura'aa si godhe?» jettee isa jibbiteertiyyu. Te'uu malee Waaqi Muusuma kana karaa ergamaa Waaqaa ka tusee keessatti itti mudhateetiin, bulcha'aa fi ka bilisa baasu godhee gara isaanii erge.

³⁶ Inni Gibxi'ii fi abbaayaa diintuu irratti baasaa fi bilbaasa hujaa, kolbaa sooressaa, biyya Gibxi'ii keessaa baase.

* 7:19 *Dirqansiise*: Hunnaan tolche

³⁷ «Waaqi akkuma na kaase, raagaa tokko odduu teessaniinuu isiniif hin kaasa» jedhe ka dubbate Muusuma kana.

³⁸ Inni abbootii teenna woliin lafa goomolee keessa jiruun, gaara Siinaa gubba'atti ergamaan Waaqaa ka itti dubbate isuma; Jecha Waaqaa ka jiru'uu ka nu'uuf dabarselle Muusuma kana.

³⁹ «Abbootiin teenna ammoo, isaaf ajajamuu diddee, gadhaa ifiititti gara biyya Gibxi'ii deebi'isaaf yaadatte.

⁴⁰ Maarre isaan Aarooniin, «Muuseen biyya Gibxii keessaa nu baase kun waan te'e wollaallee, waaqota nu soressanu nuu huji» jedhane.

⁴¹ Yennaa san isaan waaqa dharaa jabbii fakkeessanee hujanee, ciincaa dhikeessaneef; waan hujane sanitti gammadane.

⁴² Waaqi ammoo isaan irraa garagalee, urjoota ol-gubba'aa akka sagadanuuf dabarsee isaan kenne; akkuma kitaaba raagotaa keessatti barreeffante,

«Ee, kolbaa Israa'elii!

Woggaa afurtama goomolee keessatti

horii qalmaatii fi ciincaa naaf dhikeessitane ree?

⁴³ Isin dunkaanii† waaqa molokiitii fi,

fakkii urjii waaqa Reefaana jedhamuu,

harka keessaniin hujjane, waaqonsiisaaf ba'attane.

Maarre anille biyya Baabilon irraa fagaattutti isin hin dabarsa» jedhe.

⁴⁴ «Abbootiin teenna goomolee keessatti dunkaanii dhugaa bayaa qaddi. Dunkaaniin sun akka Waaqi Muuse'etti mudhisee, «Akkas huji» jedhetti ta hujante.

⁴⁵ Abbootiin teenna dunkaanii san abbootii ifii irraa fudhatteen duuba, Iyaasuu woliin gara lafa gosa worra Waaqi isaan duraa ari'etti fudhatanee galane; dunkaaniin sunille haga bara Daawitii achi turte.

⁴⁶ Daawiti Waaqa duratti fudhatama dhaggatee, Waaqa Yaaqoobiitiif mana ijaariisaaf gaafate.

⁴⁷ Ammoo Waaqaaf ka mana ijaare Solomoon.

⁴⁸ «Ammoo Waaqi ol aanaan mana harka namaatiin ijaarame keessa hin le'u; kunille akkuma raagichi,

⁴⁹ ««Ol-gubbaan barcumaa mootummaa tiyyaa ti;

lattille ijyata miila kiyyaa ti.

Manni isin naaf ijaartanu ka attamii ti ree?

Addeen ani itti foorfadhu eessa ree?

⁵⁰ Waan san duudii ka huje anaa motii? jedha Gootaan» jedhe.

⁵¹ «Isin worra mataa jabaatu! Gadhaan keessan akka gadhaa worra Waaqa hin dhugeeffannee, gurri keessan akka gurra worra Waaqa hin dhageennee ti. Isin akkuma abbootii teessanii yennaa mara Ayyaana Woyyicha mormitan.

⁵² Raagaan abbootiin teessan hin miidhin tokkolle hin jiraa? Isaan raagota woggaa heddu'uun dura dhufa balchichaa odeessane ijjeesaneeran. Amma isinille isa dabarsitane kennitane ijjeettaneertan.

⁵³ Isin karaa ergantoota Waaqaatiin seera Waaqaa fudhattaneertaniyyu; isin ammoo hin ajajanneef» jedhe.

Isxifaanos Dhaka'aan Tumame

⁵⁴ Korri Mura'aa waan Isxifaanos jedhe yennaa dhage'ane, aaranee gubatane, itti ciniinnatane.

† 7:43 Dunkaanii: Godoo

⁵⁵ Isxifaanos ammoo, Ayyaana Woyyichaan guutamee, gara ol-gubba'aa ilaalee, ulfinna Waaqaatii fi Yesuus midda Waaqaa dhaabbateeruun dhaggee,

⁵⁶ «Kunoo, ol-gubbaan banantee, Ilmi Namaalle midda Waaqaa dhaabbateeruun ani dhagge» jedhe.

⁵⁷ Korri Mura'aa iyyee gurra ifii qabate; achiin duuba isaan martinuu itti figanee,

⁵⁸ qachaa keessaa harkisanee baasanee, dhaka'aan tumane. Dhugaa bayooti woyaa isaanii akka eeguuf dargaggeessa Saa'ol jedhamu tokko bira keyatane.

⁵⁹ Adoo isaan dhaka'aan tumiisatti jiranuu, Isxifaanos, «Goottaa Yesuus, ayyaana kiyya fudhadhu» jedhee daadimate;

⁶⁰ jilbiiffateelle qoonqoo ol qabatee, «Gootta'a, cubbuu tana isaanitti hin laakkowin» jedhee iyyee, du'e.

8

Saa'ol Wolde'a Kiristaanaa Ari'e

¹ Saa'ol ijjeefamuu Isxifaanosiititti wolii gale; guyyuma Isxifaanos du'e san wolde'a kiristaanaa ka Yerusaalem keessaatitti miidhaan guddoon jalqadde. Ergantoota malee, dhugeeffattooti duudiin lafa Yihuda'aatii fi Samaariyaa keessaa duudi'itti bittinnowane.

² Worri Waaqaaf ifi kenneeru Isxifaanosiif guddoo bowanee, reeffa isaa awwaalane.

³ Saa'ol ammoo wolde'a kiristaanaa balleessiisaaf wodhaanee, mana tokko irraa gara mana kaanii deemaa, dhiiraa fi dubartii gara mana hidha'aa seensise.

Wongeelli Samaariya'atti Lallabame

⁴ Dhugeeffattooti bittinnowane addee mara dhaqanee, Oduu Gammadaa lallabane.

⁵ Filiphoos gara qachaa Samaariya'aa dhaqee kolbaa achi jirtuuf marroo Masiihii lallabe.

⁶ Gumiin waan Filiphoos jedhe yaada tokkoon dhageettee, baasa inni hujelle dhaggite.

⁷ Ayyaanni hamaan kolbaa hedduu keessaa qoonqoo guddoon iyyee baye; worri laashowee fi worri hokkolu hedduulle fayyane.

⁸ Tanaaf qachaa san keessatti gammadi guddaan te'e.

⁹ Qachaa san keessa namichi Simoon jedhamu tokko jiraayyu; inni hujii xanoo ifitiin worra qachaa Samaariya'aa baaseffachiisee, ani nama gudda'a ifiin jedhaa tureera.

¹⁰ Worri qachaa sanii diqqa'aa fi guddaan duudiin, «Namichi kun, hunna Waaqaa ta 'Hunna guddoo' jedhantu» jedhaa yaada tokkoon dhage'ane.

¹¹ Isaan, waan Simoon yennaa hedduu xanoo ifitiin isaan baaseffachiiseef, yaada tokkoon isa dhage'ane.

¹² Isaan ammoo Filiphoos marroo oduu gammada Mootummaa Waaqaatii fi maqaa Yesuus Kiristoosii yennaa isaanitti lallabe dhage'anee, dhiiraa fi dubartooti dhugeeffatanee cuuphamane.

¹³ Simooninuu dhugeeffatee cuuphameen duuba, waa'ela Filiphoosii te'ee, baasotaa fi bilbaasota gugurdaa hujame yennaa dhagge baaseffate.

¹⁴ Ergantooti Yerusaalem keessa jiranu, worri Samaariya'aa Jecha Waaqaa akka fudhate yennaa dhage'ane, Pheexroosii fi Yohaannis gara isaanii ergane.

¹⁵ Isaan yennaa achi geyane, Ayyaana Woyyicha akka fudhatanu dhugeeffattootaaf daadimatane.

¹⁶ Worri Samaariya'aa maqaa Goottaa Yesuusii gofaan cuuphameera malee, Ayyaanni Woyyichi isaan keessaa nama tokko irralle'etti bu'ee hin jiruuyyu.

¹⁷ Tanaaf Pheexroosii fi Yohaannis harka ifii isaan irra keyane; isaanille Ayyaana Woyyicha fudhatane.

¹⁸ Yennaa ergantooti harka ifii dhugeeffattoota irra keyane, Simoon akka Ayyaanni Woyyichi namootaaf kenname dhagge. Maarre inni Pheexroosii fi Yohaannisiif beese fidee,

¹⁹ «Nami ani harka kiyya irra keyu duudiin, akka Ayyaana Woyyicha fudhatu hunna tana analle'eef kenna'a» jedhe.

²⁰ Pheexroos ammoo deebisee, «Ati Kennansa Waaqaa beese'een bitati-isaaf waan yaaddeef, atii fi beeseen teetille qile'etti bada'a!

²¹ Gadhaan keeti Waaqa duratti qajeelaa waan hin te'iniif, ati hirmaannaa yookiin qooda hujii teenna keessaa hin qaddu.

²² Tanaaf hammeenna yaada gadhaa keetii kana irraa deebi'i; waan akkana yaadatte kanaaf si'iif araarama fa'a te'a, gara Gootta'aa daadimadhu.

²³ Ati hinaaffaa hadhoottu'uun guutantee, hidhamaa cubbu'uu akka teete dhaggeera» jedhe.

²⁴ Simoon, Pheexroosii fi Yohaannisiin, «Waan isin anaan jettane kana keessaa tokkolle akka ana hin dhaqqanne, maganne'ee gara Gootta'aa naaf daadimadha'a» jedhe.

²⁵ Pheexroosii fi Yohaannis dhugaa bayanee, Jecha Gootta'aa odeessaneen duuba, ollaa worra Samaariya'aa hedduu keessa Oduu Gammadaa lallabaa gara Yersaalemii deebi'ane.

Filiphoosii Fi Guneessicha Itoophiya'aa

²⁶ Ergamaan Waaqaa Filiphoosiin, «Ka'itii, Yersaalem irraa karaa kibba goomolee Gaaza'aa geessu dhaqi» jedheen.

²⁷ Maarre Filiphoos ka'ee dhage; namichi guneessichi Itoophiya'aa tokkolle itti dhufe; inniin kun qabeenna giittittii Itoophiya'aa ta «Kandaa-kee» jedhantuu irratti qondaala ture; inni Waaqa waaqonfatiisaaf gara Yersaalemii dhaqeera.

²⁸ Inni gara biyya ifii yennaa deebi'u garreettaa geejjibaan harkifamu irra tee'ee, kitaaba raagicha Isaayaasii dubbisaaraayyu.

²⁹ Ayyaanni Woyyichi Filiphoosiin, «Beenu gara garreettaa geejjibaan hark-ifamu sanii dhikaadhu» jedhe.

³⁰ Filiphoosille gara garreettaa fardaan harkifamuu san rukkisee, guneessichi sun kitaaba raagicha Isaayaasii keessaa dubbisuun dhage'ee, «Wonni ati dubbittu kun sii galaaraa?» jedhee gaafate.

³¹ Guneessichi deebisee, «Adoo nami tokko naaf issee hin himin attamiin hubatiisa dande'a?» jedhe. Maarre inni akka Filiphoos garreettaa fardaan harkifamu san yaabee isa bira tee'uuf waame.

³² Addeen inni Barreeffama Woyyicha keessaa dubbisiisatti jiru, «Inni akka hoolee qalantuu oofame;

akka ilmayyoo hoole'ee,

yennaa nami rifeensa irraa muru cadhittuu,

Inni waan tokkolle hin dubbanne.

³³ Inni ifi gad qabee, mura dhuga'aa dhabe.

Jiruun isaa lafa irraa waan fudhatanteef,

eennuttuu sanyii isaa himuu dande'a?» ka jedhu.

³⁴ Guneessichi Filiphooisiin, «Raagichi waan kana marroo eennuu dub-bataara? Marroo ifiiti moo marroo nama dhibi'ii ti? Me natti himi» jedhe.

³⁵ Achiin duuba Filiphooos dubbatiisa jalqabee, Barreeffama Woyyicha kana irraa kaasee, Oduu Gammadaa marroo Yesuus Kiristoosii isatti hime.

³⁶ Isaan adoo karaa san gad deemanuu, bisaan tokko bira geyane. Guneessichi, «Bisaan kunoo ti; akka ani hin cuuphanne wonni na dhooggaa maan?» jedhe. [

³⁷ Filiphooos deebisee, «Gadhaa tokkoon yoo dhugeeffatte hin dandeetta» jedhe. Guneessichi deebisee, «Yesuus Kiristoos Ilma Waaqaa akka te'e hin dhugeeffadha» jedhe.]*

³⁸ Guneessichi garreettaa fardaan harkifamu akka dhaabbatu ajaje; innii fi Filiphooos gara lagaa dhaqanee, Filiphooosille isa cuuphe.

³⁹ Isaan bisaan keessaa yennaa bayane, Ayyaanni Gootta'aa Filiphooos butee fuudhee deeme. Guneessichi deebi'ee isa hin dhaggine. Teetuu malee karaa ifiititti deebi'ee, gammadaa deeme.

⁴⁰ Filiphooos ammoo qachaa Azooxonii keessatti dhaggamee, Oduu Gammadaa qachoota maraa keessatti lallabaa, gara qachaa Qiisaariya'aa dhage.

9

Saa'ol Yesuusitti Dhugeeffate (HuE. 22:6-16; 26:12-18)

¹ Saa'ol ammalle barattoota Gootta'aa ijjeesiisaaf dhaadataa, gara Hayyicha gudda'aa dhage.

² Worra karaa Gootta'aa hordofu dhiiraa fi dubartiille yoo dhagge, hidhee gara Yerusaalemii fidiisaaf akka dande'u, xalayaa gara Mana Waaqonfannaa Yihudootaa ka Damaasqo'oo akka isaaf barreessu, Hayyicha Guddaa gaafate.

³ Saa'ol adoo deemuu qachaa Damaasqootitti dhikaateeruun, dedhuma ifi ol-gubba'aa irraa adaala isaatitti balaqqise.

⁴ Inni lafatti jigee qoonqoo, «Saa'ol, Saa'ol maaf na miita?» jettu dhage'e.

⁵ Saa'olille, «Gootta'a, ati eennu?» jedhee gaafate.

Qoonqoolle, «Ani Yesuusii ati miitu;

⁶ ammoo, ka'ii gara qacha'aa seen. Wonni ati godhuu qaddu achitti si'itti himama» jette.

⁷ Namooti Saa'ol woliin deemiisatti jiranu, qoonqoo dhage'ane malee, nama dubbatu hin dhaggine; isaan cadhisanee dhaabbatane.

⁸ Saa'ol addee jigee ka'ee ila ifii yennaa banate, womaa dhaggiisaaf hin dandeenne. Tanaaf isaan harka isaa qabane, gara qachaa Damaasqo'oo isa geessane.

⁹ Inni haga guyyaa sadii womaa dhagguu hin dandeenne; hin nyaannelle'e yookiin hin unnelle'e.

¹⁰ Yennaa san barataan Anaaniyaas jedhamu tokko, Damaasqoo keessa jiraayyu. Goottaan mudhi'iin «Anaaniyaas» jedheen.

Innille deebisee, «Kunoo ani as jira, Gootta'a» jedhe.

¹¹ Goottaalle, «Qophowiitii, gara karaa <Qajeelaa> jedhamu dhaqiitii, mana Yudaasiititti namicha lafa Xarseesii, ka maqaan isaa Saa'ol jedhamu tokko iyyaafadhu. Inni amma daadimatiisatti jira;

¹² Saa'ol mudhi'iin namichi Anaaniyaas jedhamu tokko dhufee, harka ifii isa irra keyee akka fayyu dhaggeera» jedheen.

* **8:37** Barreeffami gogaa duugame irratti barreeffame gariin laakkossa 37 hin dabalata; ka durii ammoo hin dabalatu.

¹³ Anaaniiyaas deebisee, «Gootta'a, namichi kun kolbaa teeti ta Yersaalem keessa jirtu waan hantuu akka inni godheeru nami hedduun natti himeera.

¹⁴ Inni worra maqaa keeti waammatu mara hidhiisaaf, sooreyyii hayyootaa irraa baallii dhaggateera» jedhe.

¹⁵ Gootaan Anaaniiyaasiin, «Inni maqaa kiyya worra Yihudoota hin te'iniif, moototaa fi kolbaa Israa'eliitiif akka beessisu, tajaajilaa kiyya ka ani filadhe waan te'eef gara isaa dhaqi.

¹⁶ Akka inni marroo maqaa kiyyaatiif guddoo rakkatu, aninuu isatti hin mudhisa» jedhe.

¹⁷ Maarre Anaaniiyaas deemee, mana Saa'ol jiru seene; inni harka ifii Saa'ol irra keyee, «Obboleessa kiyya Saa'ol, Gootaan Yesuus, as dhufiisatti jirtuun karaa irratti ka si'itti mudhate, akka ati deebitee dhaggituu fi Ayyaana Woyyichaan akka guutantuuf ana ergeera» jedhe.

¹⁸ Yoosuma wonni akka solloqqee qurxummi'ii fakkaattu, ila Saa'olii irraa buutee, deebi'ee dhaggiisaaf dande'e. Inni ol ka'ee cuuphame;

¹⁹ sagalee nyaateen duuba jabaate.

Saa'ol Damaasqo'otti Lallabe

Saa'ol guyyoota diqqa'aaf lafa Damaasqo'oo keessa barattoota woliin ture.

²⁰ Saa'ol adoo hin turin mana Waaqonfannaa Yihudootaa dhaqee, «Yesuus ilma Waaqaa ti» jedhee lallabiisa jalqabe.

²¹ Worri isa dhage'e duudiin baaseffatee, «Inni Yersaalem keessatti worra maqaa Yesuusii waamu ka balleessaa turee motii? Ammalle inni isaanuma hidhee gara sooreyyii hayyootaa geessiisaaf as hin dhunnee?» jedhane.

²² Saa'ol ammoo lallabi isaa irra caalaa hunna dhaggataa deemee, Yesuus Masiihii akka te'e mirkaneessinaan, Yihudooti Damaasqoo keessa le'anuu waan jedhanu wollaalane.

²³ Guyyaa heddu'uun duuba Yihudooti, Saa'ol ijjeesiisaaf mala dhowane.

²⁴ Inni ammoo mala isaanii beeke. Isaanille isa ijjeesiisaaf halkanii fi guyyaa karra qacha'aatitti isa eegane.

²⁵ Hordofattooti Saa'olii ammoo, gaafa tokko halkaniin, Saa'ol xaxxoo* keessa keyanee, foddaa dalleya dhaka'aatiin gad buusane.

Saa'ol Qachaa Yersaalemii Keessatti Lallabe

²⁶ Saa'ol gara Yersaalemii yennaa dhaqe, barattootatti makamiisaaf wodhaane; isaan ammoo akka inni dhugumaan barataa te'e waan hin dhugeeffatiniif, duudiinuu isa sodaatane.

²⁷ Baarnaabaas ammoo isa fuudhee gara ergantootaa geessee, karaa irratti Gootaan attamiin akka isa dhagee fi attam akka itti dubbate, akkasuma Damaasqoo keessatti maqaa Yesuusiitiin sodaa malee akka inni lallabe isaanitti hime.

²⁸ Maarre Saa'ol isaan woliin te'ee Yersaalem duudii keessa dhaqee, sodaa malee maqaa Goota'aatiin lallabe.

²⁹ Inni Yihudoota afaan Giriiki'ii dubbatanu woliin dubbataa itti moromaa ture; isaan ammoo isa ijjeesiisaaf wodhaanane.

³⁰ Dhugeeffattooti waan kana yennaa beekane, gara Qiisaariya'aa geessane; achille'een gara Xarseesii ergane.

³¹ Achiin duuba wolde'i kiristaanaa ka Yihudaa, Galiilla'aa fi Samaariyaa keessa jiranu duudiin nageya dhaggatane jabaatane; Gootaalle ulfeessaa, Ayyaana Woyyichaan jajjabaataa, laakkossaan heddatane.

Pheexroos Eneyaas Fayyise

* 9:25 Xaxxoo Saaxaraa, qiriccoo

³² Pheexroos addee duudii adoo deddeemuu, kolbaa Waaqaa ta lafa Liidaa keessa leetu ilaaliisaaf dhufe.

³³ Inni achitti namicha Eneyaas jedhamu, ka nafi isaa laashoweruu fi haga woggaa saddeetii taqee irraa ka'ee hin dandeenne tokko dhagge.

³⁴ Pheexroos, «Eneyaas, Yesuus Kiristoos si fayyisa ol ka'iitii, taqee teeti afadhu» jedhe. Yoosuma Eneyaas ol ka'ee dhaabbate.

³⁵ Kolbaan Liidaa fi Saaron keessa leetu duudiin isa dhaggitee, gara Gootta'aa deebite.

³⁶ Qachaa Yophee keessa dubartittiin dhugeeffattuun, Xaabiitaa jedhantu takka jirtiyyu. Maqaan isi'ii afaan Giriikiitiin Dorqa'a; hiikkaan, «Buddanee» jechu'u. Isiin yennaa mara hujii dansaa hujaa, hiyyeeyyii qarqaaraa turte.

³⁷ Yennaa san isiin dhibantee duunaan, reeffa isi'ii dhiqanee kolloo mana gubba'atti ijaarantee keessa irkisanee.

³⁸ Liidaan Yophe'etti dhikoo waan teeteef, dhugeeffattooti Pheexroos Liidaa keessa akka jiru yennaa dhage'ane, nama lama gara isaa erganee, «Maganne'ee ariifadhuutii gara keenna koy» jedhanee kadhatane.

³⁹ Maarre Pheexroos ka'ee isaan woliin deeme; yennaa inni achi geye, gara kolloo mana gubbaa jirtuu isa geessane. Haadhotiin hiyyeessaa duudiin isatti naannowanee, hidho'oo fi uffana Dorqaan jiru'uun yennaa jirtu hojjatte itti mudhisaa bowane.

⁴⁰ Pheexroos isaan duudii kollo'oon alatti yaasee, jilbiiffatee daadimate; achiin duuba gara reeffaa gara galee, «Xaabiitaa, ka'!» jedhe. Isiin ila ifii banattee, Pheexroos yennaa dhaggite ol jettee teette.

⁴¹ Inni harka isii qabee ol kaase. Achiin duuba dhugeeffattootaa fi haadhotii hiyyeessaa duudii waamee, jirtuu isi'ii isaan duratti dhikeesse.

⁴² Oduun tun Yophee duudii keessatti beekkante; kolbaan hedduulle Gootta'atti dhugeeffatte.

⁴³ Pheexroosille namicha gogaa duugu ka Simoon jedhamu tokko woliin, guyyaa hedduu Yophee keessa ture.

10

Pheexroosii Fi Qorneelewos

¹ Qachaa Qiisaariya'aa keessa namichi Qorneelewos jedhamu tokko, kutaa woraana worra Rooma'aa ka «Ixaaliqaa» jedhamee waamamuuf ajaja dhibbaa ka ite'e jiraayyu.

² Inni maatii ifii duudii woliin nama Waaqa waaqonfatuu fi Waaqa so daatu. Inni ammalle worra Yihudootaa keessaa hiyyeeyyii guddoo qarqaaraa, yennaa mara Waaqa daadimataa ture.

³ Gaafa tokko saafowa gara saatii sagaliititti, ergamaan Waaqaa gara isaa dhufee, «Qorneelewos» jedhee isa waamuun mudhi'iin dhagge.

⁴ Qorneelewosille erganticha Waaqaa hubatee ilaalee soda'aan, «Gootta'a, maan?» jedhe.

Ergamaan Waaqaa deebisee, «Waaqi daadimata keeti dhage'eera; hiyyeeyyii qarqaaruu keetille yaadateera.

⁵ Ammalle namoota gara qachaa Yophe'ee ergiitii, Simoon ka Pheexroos jedhamu tokko waansisi.

⁶ Inni abbaayaa cinaa mana Simoonii gogaa duuguutitti keessummummaa jira» jedhe.

⁷ Achiin duuba ergantichi isatti dubbatee biraa deemeeruun, Qorneelewos tajaajiltoota ifii keessaa nama lamaa fi loltoota isaaf addatamanu keessaa nama tokko waamee,

⁸ waan te'e san duudii isaanitti himeen duuba, gara qachaa Yophe'ee erge.

⁹ Boruuyyaa worri ergame qachaa Yophe'ee bira geyeeruun, Pheexroos gara saatii jaatitti daadimatiisaaf gara mana mana gubba'aa ol baye.

¹⁰ Yennaa san Pheexroos beelowee waan nyaatu barbaade; adoo sagaleen qophowiisatti jirtuu galaalchee* mudhii dhagge.

¹¹ Inni ol gubbaan banantee, wonni akka woyaa guddoo fakkaattu roga afuriinuu gad bu'aartuun dhagge.

¹² Woyaa san keessa bineensoti miila afur qabanu, ka gadha'aan lowanuu fi sinbirrooti koolaan ka'anuu duudiin jiran.

¹³ Yennaa san qoonqoon, «Pheexroos, ka'i; bineensota kana qaladhuutii nyaadhu!» jettu dhage'e.

¹⁴ Pheexroos ammoo, «Hin teetu, Gootta'a! Ani waan aadaa dhugeeffanna'aatiin qulqulluu hin te'in yookiin waan battii nyaadhee hin beeku» jedhe.

¹⁵ Ammalle qoonqoon deebitee, «Waan Waaqi qulqulleesse, ati akka battii hin laakkowin» jetteen.

¹⁶ Tun yennaa sad teetee, wonni akka woyaa guddoo fakkaattu sun gara ol-gubba'aa fudhatante.

¹⁷ Pheexroos mudhiin tun maan jedhee adoo baaseffatiisatti jiruu, namooti Qorneelewos erge mana Simoonii iyyaafatanee dhufanee, balbala dura dhaabbatane.

¹⁸ Isaan qoonqoo ol qabatanee, «Keessumtichi Simoon Pheexroos jedhamu tokko as jiraa?» jedhane gaafatane.

¹⁹ Pheexroos ammalle marroo mudhi'ii adoo yaadatiisatti jiruu Ayyaanni, «Kunoo! Namooti sad si barbaadiisatti jiran.

²⁰ Tanaaf ka'iitii gad bu'i; ka isaan erge ana waan te'eef adoo hin mamin isaan waliin deem» jedhe.

²¹ Maarre Pheexroos gad bu'ee isaaniin, «Nami isin barbaaddanu ana; maaf dhuttane?» jedhe.

²² Isaan deebisane, «Ajajaa dhibbaa ka te'e, Qorneelewositti nu erge; inni nama qajeelaa Waaqa waaqonfatuu fi kolbaan Yihudootaa duudiin ulfeessitu; inni gara mana ifii si waansisee, waan ati jettu akka dhage'u, ergamaan Waaqaa woyyichi isatti himeera» jedhane.

²³ Pheexroosille ol isaan waamee, keessumsiisee bulche.

Pheexroos boruuyyaa ka'ee isaan waliin deeme; dhugeeffattooti qachaa Yophee keessaalle gariin isa waliin deemane.

²⁴ Guyyaa itti aanu qachaa Qiisaariya'aa geyane; Qorneelewosille firootaa fi jaalota ifii waammatee, isaan eegate.

²⁵ Pheexroos gara manaa yennaa seene, Qorneelewos isaa dhaggee, miila isaatitti jigee sagadeef.

²⁶ Pheexroos ammoo, «Ka'i! Anille namuma akka keetii ti» jedhe.

²⁷ Pheexroos isa waliin haasowaa yennaa mana seene, kolbaan hedduun wolitti qabanteertuun dhagge.

²⁸ Inni isaaniin, «Nami gosa Yihudi'ii tokko, worra Yihudii hin te'in waliin firoomuu yookiin mana wolii dhaquu seerri dhugeeffannaa teennaa akka hin eeyyanne isinuu hin beettan. Waaqi ammoo, akka ani nama tokkolle'een aadaa dhugeeffanna'aatiin qulqulluu moti yookiin battii akka hin jenne natti mudhiseera.

²⁹ Tanaaf yennaa isin natti ergitane, ani adoo hin mamin dhufe; yoona maaf akka natti ergitane beekuu barbaada» jedhe.

* **10:10** *Galaalchee*: Akka rafuu te'ee

³⁰ Qorneelewos deebisee, «Guyyaa afuriin dura yennuma tana guyyaa keessa saatii sagalitti, ani mana kiyya keessatti daadimatiisatti jiruun, ded-huma nami woyaa calalaxxuu uffateeru tokko na dura dhaabbattee,

³¹ «Qorneelewos! Waaqi daadimata keeti dhage'eera; hiyyeeyyii qarqaaruu keetille yaadateera» jedhe.

³² Nama gara Yophe'ee ergiitii namicha Simoon Pheexroos jedhamu waansisi. Inni abbaayaa cinaa mana Simoonii gogaa duuguutitti keessummaa jira.

³³ Tanaaf anille yoosuma sitti erge; atille бага dhutte. Amma nuuti duudiin waan Goottaan sitti hime duudii si irraa dhage'iisaaf, fuula Waaqaa duratti asitti wolitti qabanneerra» jedhe.

Lallaba Pheexroosii

³⁴ Pheexroos isaaniin, «Dhugumaan Waaqi akka nama wol hin caalchinne hubadheera.

³⁵ Nama biyya tamiille te'uutii, ka Waaqa sodaatuu fi waan sirrii godhu Waaqa biratti fudhatama qaba.

³⁶ Waaqi Jecha ifii kolbaa Israa'eliitiif erguu isaa, Oduu Gammadaa ta nageyaa, karaa Yesuus Kiristoosii Goottaa nama maraatiin lallabuu isaa hin beettan.

³⁷ Yohaannis marroo cuupha'aa lallabeen duuba, biyya Galiila'aatii jalqabee lafa Yihuda'aa mara keessatti waan te'e hin beettan.

³⁸ Waaqi, Yesuusii Naaziretii Ayyaana Woyyichaan muudee hunna akka isaaf kenne, Yesuusille Waaqi isa woliin waan jiruuf addee mara dhaqee hujii dansaa hujee, worra Seexanaan qabame duudii akka fayyise hin beettan.

³⁹ Nuuti biyya Yihuda'aatii fi qachaa Yersaalemiititti, waan Yesuus godhe maraaf dhugaa baatota; isaan ammoo isa fannoo irratti fannisanee ijjeesane.

⁴⁰ Waaqi ammoo guyyaa sadeesso'oo du'aa isa kaasee, akka inni mudhatu godhe.

⁴¹ Mudhatuun isaa nama duudi'iif adoo hin te'in, nu worra dhugaa bayoota isaa akka teenuuf filannee, du'aa ka'a isaatiin duuba isa woliin nyaannee fi unnetti mudhateera.

⁴² Waaqi akka nuuti wongeela kolba'aaf lallannu, worra jiruu fi du'e irratti abbaa mura'aa akka te'uuf akka isa file, akka dhugaa baanuuf nu ajajeera.

⁴³ Worri isatti dhugeeffatu duudiin, maqaa isaatiin araara cubbu'uu akka dhaggatanu, raagoti duudiin dhugaa bayaneeran» jedhe.

Worri Yihudoota Hin te'in Ayyaana Woyyicha Fudhate

⁴⁴ Adoo Pheexroos tana dubbatiisatti jiruu, Ayyaanni Woyyichi worra dubbii isaa dhage'iisatti jiru duudii irratti bu'e.

⁴⁵ Yihudooti dhugeeffataneeranu ka Pheexroos woliin dhufane, Waaqi kennansa Ayyaana Woyyichaa worra Yihudoota hin te'iniifille kennuu isaa dhagganee baaseffatane.

⁴⁶ Yihudooti dhugeeffatane, worri Yihudoota hin te'in afaan haareya dubbataa Waaqa leellifatanuun dhaggane. Achiin duuba Pheexroos,

⁴⁷ «Kolbaan tun akkuma keenna Ayyaana Woyyicha fudhatteerti. Akka isaan bisaaniin hin cuuphanne eentu dhoogga ree?» jedhe.

⁴⁸ Maarre Pheexroos akka isaan maqaa Yesuus Kiristoosiitiin cuuphamanu ajaje. Achiin duuba isaan akka Pheexroos guyyaa diqqaa'aaf isaan woliin turu gaafatane.

11

Pheexroos Waan Hojjatame Wolde'a Yerusaalemiititti Hime

¹ Ergantootaa fi dhugeeffattooti biyya Yihuda'aa keessaa, worri Yihudoota hin te'inille Jecha Waaqaa akka fudhatane dhage'ane.

² Maarre Pheexroos yennaa gara Yerusaalemii ol dhage, Yihudooti dhugeeffatane isatti mormanee,

³ «Ati mana worra haqanqabaa hin qabatanii dhaxxee, isaan wolille'een nyaatte» jedhane.

⁴ Pheexroos ammoo, waan te'e mara tokko tokkoon isaanitti himuu jalqabee:

⁵ «Ani qachaa Yophe'ee keessatti adoo daadimatiisatti jiruu, galaalchee* mudhii dhagge. Wonni akka woyaa guddo'oo fakkaattu roga afuriinuu ol gubbaa irraa dhuttee, na cinaa buute.

⁶ Ani hubadhee yennaa ilaale, woyaa san keessa horii miila afur qabu, bineensota, bineensota gadha'aan lowanuu fi sinbirroota koolaan ka'anuu dhagge.

⁷ Achiin duuba qoonqoo, «Pheexroos, ka'i; bineensota kana qaladhuutii nyaadhu!» jettu dhage'e.

⁸ Ani ammoo, «Hin teetu, Gootta'a! Wonni aadaa dhugeeffanna'aatiin qulqulluu hin te'in yookiin wonni battiin afaan kiyaa seentee hin beettu» jedhe.

⁹ Ammalle qoonqoon ol-gubbaa irraa, «Waan Waaqi qulqulleesse, ati akka batti'ii hin laakkowin» anaan jette.

¹⁰ Tun yennaa sad teeten duuba, wonni sun duudiin gara ol-gubba'aa fudhatante.

¹¹ Yennaa san namooti sad ka Qiisaariyaa irraa gara kiyaa ergamane, gara mana ani turee dhufane.

¹² Ayyaanni Woyyichi akka ani mama malee isaan waliin deemu natti hime. Dhugeeffattooti jaan ka as na bira jiranulle na waliin dhaqanee, duudiin keenna mana Qorneelewosii seenne.

¹³ Qorneelewosille, ergamaan Waaqaa mana isaa keessa dhaabbateeruun akka dhaggee fi ergantichi isaan, «Gara Yophe'ee nama ergiitii, Simoon ka Pheexroos jedhamu waansisi;

¹⁴ inni dubbii atii fi worri keeti duudiin ittiin fayyitanu hin dubbata» akka jedheen nutti hime.

¹⁵ Yennaa ani dubbatiisa jalqabe, Ayyaanni Woyyichi akkuma jalqaba nu irratti bu'e, isaan irralle'etti bu'e.

¹⁶ Yennaa san waan Gootaan, «Yohaannis bisaaniin cuuphe, isin ammoo Ayyaana Woyyichaan cuuphantan» jedhe qaabadhe.

¹⁷ Waaqi yennaa nuuti Gootaa Yesuus Kiristoositti dhugeeffanne kennan-suma nu'uuf kenne san, isaan worra Yihudoota hin te'iniifille eega kenne, ka Waaqa dhooggu ani eennu ree?» jedhe.

¹⁸ Isaan yennaa tana dhage'ane, moromaa lakkisane, «Waaqi worra Yihudoota hin te'inille akka cubbuu irraa deebi'anee jiraatanu carraa kenneera» jedhane Waaqa leellisane.

Wolde'a Kiristaana Anxokiyaa Keessaa

¹⁹ Miidhaa yennaa Isxifaanos ijjeefame ka'een, dhugeeffattooti bittin-nowane haga qachaa Finiqee, Qophiroosii fi Anxokiyaa deemanee, Jecha Waaqaa worra Yihudootaa calla'aaf himane.

* **11:5** *Galaalchee*: Akka rafuu te'e **11:19** HuE. 8:1-4

²⁰ Te'uu malee dhugeeffattooti qachaa Qophiroosiitii fi Qareena'aatii dhufane gariin, gara qachaa Anxokiya'aa yennaa dhufane, worra Giri-ikootaalle'eef Oduu Gammadaa ta marroo Gootaa Yesuusii himane.

²¹ Gootaan hunna ifitiin isaan qarqaare; kolbaan hedduulle dhugeeffattee gara Goota'aa deebite.

²² Wolde'i kiristaanaa ka Yerusaalem keessaa oduu tana dhage'ee, Baarnaabaas gara Anxokiya'aa erge.

²³ Inni achi geyee, Waaqi attam kolbaa akka badhaase yennaa dhagge, gammadee, duudiinuu gadhaa tokkoon Goota'aaf addatamanee akka jabaatanu itti gorse.

²⁴ Baarnaabaas nama arjaa Ayyaana Woyyichaa fi dhugeeffanna'aan guutame waan te'eef, kolbaan hedduun gara Goota'aa deebite.

²⁵ Achiin duuba Baarnaabaas Saa'ol barbaadiisaaf gara Xarseesii dhage.

²⁶ Yennaa isa dhagge gara Anxokiya'aa isa fidee, woggaa guutuu isaan lamaanuu wolde'a Kiristaanaa waliin gumii hedduu barsiisane. Dhugeeffattooti qaraa Anxokiya'atti, «Kiristaanota» jedhamanee waamamane.

²⁷ Yennaa san raagoti gariin Yerusaalemii gara Anxokiya'atti gad bu'ane.

²⁸ Isaan keessaa tokkochi Agaabos ka jedhamu ka'ee, biyya lafaa duudii irratti beelti jadduun akka bu'aartu, Ayyaana Woyyichaan raaga dubbate; kunille bara Kilaawudiiyos mootii te'eerutti muummowe.

²⁹ Barattooti tokko tokkoonuu akkuma dandeettii ifititti, dhugeeffattoota Yihudaa keessa leetu qarqaariisaaf murteeffatte.

³⁰ Isaan tana godhanee, achiin duuba beesee karaa Baarnaabaasiitii fi Saa'oliitiin gara jaarsota wolde'a Kiristaanaa ergane.

12

Ijjeefamuu Yaaqoobiitii Fi Hidhamuu Pheexroosii

¹ Bara san mootichi Heroodis*, miseensota wolde'a kiristaanaa tokko tokko miidhuu jalqabe.

² Inni Yaaqoobii obboleessa Yohaannisii shallaaga'aan ijjeesise.

³ Wonni kun Yihudoota akka gammachiitte yennaa dhagge, itti dabalee Pheexroos qassiise; tunille yennaa Jila Daabboo Uukoo hin qannee teete.

⁴ Heroodis yennaa Pheexroos qassiisee mana hidha'aatitti galche, afur afur te'ane akka isa eegamu loltoota dabaree afuritti qoodamaneeranutti isa kenne. Jila Irra Dabaramaatiin duuba kolbaa duratti akka isa dhikeessuuf yaadate.

⁵ Adoo Pheexroos mana hidha'aa keessatti eegamuu, wolde'i kiristaanaa ammoo jabaatee gara Waaqaa isaaf daadimate.

Pheexroos Mana Hidha'aatii Hiikame

⁶ Halkan bari'een duuba Heroodis silaa Pheexroos kolbaa duratti dhi-keessu, Pheexroos wodaroo sibiilaa lamaan hidhamee, loltoota lama odduu rafee, eeddoti balbala mana hidha'aa dura dhaabbatanee eegane.

⁷ Dedhuma ergamaan Goota'aa achi dhaabbatee, manni hidha'aa keessi ife. Ergantichille cinaacha Pheexroosii tuqee, isa dammassee, «Ariifadhuu ka'i!» jedheen. Wodaroon sibiilaalle harka isaa irraa buute.

⁸ Achiin duuba ergamaan, isaan «Hidhadhu! Kophee teetille keyadhu» jedhe. Pheexroosille akkuma inni itti hime tolche. Achiin duuba ergantichi, «Woyaa teeti uffadhuu na gula koy» jedheen.

11:28 HuE. 21:10 * **12:1** Heroodis: Heroodisiin kun Agriiphaa matoomaa ti; inni akaakoo Heroodisii wongeela Maatewoosii, foora lama keessatti dubbinnu; inni akka laakkossa Awuropha'aatitti dhaloota Kiristoosiitiin duuba bara 37-44 bulche

⁹ Pheexroos mana hidha'aa keessaa bayee, erganticha gula deeme; ammoo waan ergamaan Gootta'aa godhe hin beenne; inni waan duudii oojjuu seye.

¹⁰ Isaan worra eedduu tokkeesso'ootii fi lammeesso'oo irra dabaraneen duuba, balbala sibiilaa ta gara qacha'aa bayanu bira geyane; balbaltille ifumaan isaan duraa banantee, gad bayane. Karaa tokko gad deemanee, ergamaan dedhuma Pheexroos biraa deeme.

¹¹ Pheexroos yennaa bayyanate†, «Goottaan ergamaa ifii ergee harka Heroodisiitii fi waan worri Yihudootaa na irratti yaadane mara jalaa akka ana baase, amma dhugumaan beekeera» jedhe.

¹² Pheexroos tana hubateen duuba, addee namooti hedduun wolitti qabamee daadimatiisatti jiru, gara mana Maariyaamii haadha Yohaannisii Maarqoos jedhamuu dhage.

¹³ Pheexroos achi geyee balbala karra alaa yennaa dhodhowe, tajaajiltitiin Roodaa jedhantu takka dhuttee owwaatte.

¹⁴ Isiin qoonqoo Pheexroosii beettee, waan guddoo gammaddeef, balbala adoo hin baniniif rukkittee gara keessaa seentee, «Pheexroos balbala dura dhaabbateera!» jettee odeessite.

¹⁵ Isaan, «Ati maraatteerta!» isi'iin jedhane. Isiin ammoo ittuma ded-deebitee, «Lakkii isuma» jette. Achiin duuba isaan, «Ergamaa Waaqaa ka isa eegu te'innaa» jedhane.

¹⁶ Pheexroos ammoo balbala dhodhowiisa hin lakkinne; isaan balbala bananee yennaa isa dhaggane baaseffatane.

¹⁷ Inni akka isaan cadhisani harka ifitiin beessisa itti kennee, Goottaan mana hidha'aa keessaa attam akka isa baase isaanitti odeessee, «Dubbi tana Yaaqoobii fi dhugeeffattoota dhibiille'etti hima'a» jedhee, bayee addee dhibii dhage.

¹⁸ Yennaa latti bariite, loltooti, «Pheexroos maan te'e?» jedhane, waan godhanu wollaalanee baaseffatane.

¹⁹ Heroodis Pheexroos barbaachisee isa dhagguu dhabee jennaan, eed-dota qorateen duuba akka ijjeefamanu ajaje;

Achiin duuba Heroodis Yihudaa irraa gara Qiisaariya'atti gad bu'ee achi ture.

Du'a Heroodisii

²⁰ Heroodis kolbaa Xiirsoosiitii fi Sidooniititti guddoo aareeraayyu. Maarre isaan wolii galte'een gara isaa dhufanee, Bilaasxosii tajaajilaa addatamaa mana mootichaa, Heroodisitti dhikaatee araara akka isaaniif gaafatuuf, tole jechisiifataneen duuba, mooticha araara gaafatane; isaan biyya mootichi bulchu keessaa sagalee waan dhaggatanuuf tana jedhane.

²¹ Guyyaa wol dhaggiisaaf qabatane, Heroodis uffana mootummaa ifii uffatee, barcumaa mootummaa ifii irra tee'ee, kolba'atti dubbate.

²² Isaan, «Tun qoonqoo waaqaa ti malee, ta namaatii moti» jedhaa iyyane.

²³ Heroodis ulfinna Waaqaaf waan kennuu dhabeeff, ergamaan Waaqaa yoosuma isa dhowe; corroxxille isa nyaattee du'e.

²⁴ Jechi Waaqaa ammoo, gudddataa badhataa deeme.

²⁵ Baarnaabaasii fi Saa'ol ergaa dhaqaneef muummessanee, Yersaalem irraa deebi'ane; Yohaannisii Maarqoos jedhamulle ifi faana fuudhane dhufane.

13

Baarnaabaasii Fi Saa'ol Ergamane

† 12:11 Bayyanate: Ifi beeke

¹ Wolde'a kiristaanaa ka Anxokiya'aa keessa raagotaa fi barsiisoti jiraniyyu: isaanille Baarnaabaas, Simoon ka «Gurraacha» jedhamu, Luukiyoosii biyya Qareena'aa, Maanaa'enii Heroodisii bulchaa* woliin guddatee fi Saa'ol fa'a.

² Isaan Goottaa tajaajilaa adoo laamanuu Ayyaanni Woyyichi isaaniin, «Baarnaabaasii fi Saa'ol hujii ani isaan waameef, isaan naaf fowa'a» jedhe.

³ Isaan laamanee daadimatane, harka ifii isaan irra keyaneen duuba ergane.

Baarnaabaasii Fi Saa'ol Qophiroositti

⁴ Baarnaabaasii fi Saa'ol Ayyaana Woyyichaan ergamanee, gara qachaa seluuqiya'aatitti gad bu'anee, hobolo'oon gara oddoola Qophiroosii dhaqane.

⁵ Isaan yennaa qachaa Salaamiisii geyane, Jecha Waaqaa mana waaqonfannaa Yihudootaatitti lallabane. Yohaannisiin Maarqoos jedhamulle isaan woliin jiraatee isaan qarqaare.

⁶ Isaan oddoola Qophiroosii keessa qaccee garanaatii haga qaccee taanii qaxxaamurane, qachaa Phaafoosii yennaa geyane, namicha xanoo xanu Yihudicha Baar-Yesuus jedhamu tokko dhaggane; inni raagicha dharaamessa.

⁷ Inni lansa bulchaa oddoolaa qalbicha ka Sergiiosii Phawuloos jedhamuu ti. Bulchaan kun Jecha Waaqaa isaan irraa dhage'iisaaf barbaadee, Baarnaabaasii fi Saa'ol gara ifii waame.

⁸ Namichi xanoo xanu ka afaan Giriikiitiin «Eliimaas» jedhamu ammoo, bulchaan biyya sanii akka hin dhugeeffanne barbaadee, isaaniin morme.

⁹ Achiin duuba Phawuloos ka jedhame Saa'ol Ayyaana Woyyichaan guutamee, namicha xanoo xanu hubatee ilaalee,

¹⁰ «Ati ilma Seexanaa ti! Ati diina dhugaa maraa ti! Ati sobaa fi hammeenna duudi'iin guutanteerta; ati yennaa mara dhugaa Gootta'aa gara sobaa jijjiiriisa hin lakkittuu?

¹¹ Ammalle harki Gootta'aa si hin dhowa; ballaa hin teeta; yennaa diqqoolle ifa adu'uu hin dhaggitu» jennaan,

Yoosuma hurri'ii fi dukkanti ila isaa qaddee, nama harka qabee isa sooreessu adaala ifii qaqqabatiisa jalqabe.

¹² Bulchaan waan te'e san yennaa dhagge, barsiisiisa Gootta'aa guddoo waan baaseffateef dhugeeffate.

Qachaa Pherge'eetii Fi Anxokiya'atti Lallabane

¹³ Phawuloosii fi hordofattooti isaa lafa Phaafoosiitii hobolo'oon ka'anee, gara qachaa Pherge'ee ka Phamfiliyaa keessatti dhaggamuu dhaqane; Yohaannisiin Maarqoos jedhamu ammoo, isaan lakkisee gara Yerusaleemii deebi'e.

¹⁴ Isaan ammoo lafa Pherge'eetii ka'anee, gara qachaa Anxokiya'aa ka lafa Phisiidiya'aa keessatti dhaggamuu dhaqane; guyyaa Sanbataa mana waaqonfannaa Yihudootaa seenanee tee'ane.

¹⁵ Kitaab Seera Muuse'eetii fi Raagotaa dubbifameen duuba, bulchitooti Mana Waaqonfannaa Yihudootaa isaanitti erganee, «Obboleeyyan, jecha nama jajjabeessu yoo qabaattane dubbadha'a» jedhane.

¹⁶ Yoos Phawuloos ka'ee harkaan isaan haatatee: «Kolbaa Israa'eliitii fi worri Yihudoota hin te'in ka Waaqa waaqonsitanu, waan ani jedhu dhage'a'a!

* **13:1** Maanaa'enii Heroodisii bulchaa: Heroodisii bulchaa lafa Galiila'aa

¹⁷ Waaqi kolbaa Israa'elii, abbootii teenna fowatee, yennaa isaan akka ormaatitti biyya Gibxii keessa le'ane, gosa guddoo isaan godhe. Inni hunna guddoo ifitiin biyya Gibxi'ii keessaa isaan baasee,

¹⁸ haga woggaa afurtamaa lafa goomole'ee keessatti isaan ossate.

¹⁹ Inni lafa Kana'aanii keessaa gosa biyya adda addaa torba balleessee, lafa isaanii kolbaa ifitiif kenne.

²⁰ Wonni kun duudiin gara woggaa dhibba afurii fi shantamaa keessatti teete.

«Kanaan duuba Waaqi haga bara Saamu'elii raagichaattitti abbootii mura'aa isaaniif kenne.

²¹ Yennaa isaan mootii nu'uuf kenni jedhatee gaafatanetti, Waaqi gosa Beniyaaminii keessaa Saa'olii ilma Qiishii isaaniif kenne; innille woggaa afurtama isaan bulche.

²² Saa'ol mootummaa irraa buuseen duuba, Waaqi Daawiti mootii isaanii godhe. Waaqi marroo isaatiif dhugaa bayee, «Ani, Daawitii ilma Iseyii nama akka gadhaa kiyyaa, ka fedhii tiyya duudii muummessu dhaggadheera» jedheera.

²³ Waaqi akkuma waadaa galetti, sanyii namicha kanaa keessaa fayyisaa Yesuus kolbaa Israa'eliitiif fideera.

²⁴ Dhufa Yesuusiitiin dura Yohaannis, kolbaan Israa'elii marti cubbuu irraa deebitee akka cuuphantuuf lallabeera.

²⁵ Yohaannis tajaajila ifii fixatiisatti adoo jiruu kolba'aan, «Isin eennu na seetan? Ani ka isin eegattanu sanii moti. Ammoo ka ani hidhaa kophee isaa hiikiisaafille hin teene, na duubaan dhufaara» jedheen.

²⁶ «Obboleeyyan tiyya, isin sanyiin Abrahaamiitii fi worri Yihudoota hin te'in ka Waaqa waaqonsitanu duudiin, ergaan fayyinnaa tun nu duudi'iif ergante.

²⁷ Kolbaan Yersaalemiitii fi sooressitooti isaaniille Yesuus fayyisaa akka te'e hin beenne; isaan dubbii raagotaa ta Sanbata Sanbataan dubbifantu hubatuu dhabiisaan isatti muranee, dubbiin raagaa akka muummottu godhane.

²⁸ Isaan sababa ittiin Yesuus ijjeesisanu dhabanulle, akka inni ijjeefamuuf Philaaxoos gaafatane.

²⁹ Waan Barreeffam Woyyichi marroo isaatiif jedhu duudii muummessaaneen duuba, muka irratti fannifame irraa gad buusanee awwaalane.

³⁰ Waaqi ammoo du'a irraa isa kaase.

³¹ Inni guyyaa hedduu worra isa woliin Galiilaa irraa gara Yersaaleemii dhufanetti mudhate. Amma isaan kolbaa teennaaf dhugaa bayoota.

³² «Nuuti waan Waaqi abbootii teennaaf waadaa gale Oduu Gammadaa isinitti hinna.

³³ Inni Yesuus du'aa kaasiisaan waadaa isaaniif gale, nu'u ijoollee isaaniitiif muummesseera. Kunille kitaaba Faaru'uu ka lammeesso'oo keessatti, «Ati ilma kiyya;

ani adha si uumadheera» jedhantee barreeffanteerti.

³⁴ Akka inni du'a irraa isa kaasee fi tortoree hin jirre Waaqi mirkaneessiisaaf, «Ani eebba woyyichaa fi addatamaa,

ka Daawitiif waadaa gale isiniif hin kenna» jedheera.

³⁵ Tanaaf kitaaba Faaru'uu ka dhibii keessalle'etti,

«Ati Woyyichi keeti awwaala keessatti akka tortoru hin lakkittu» jedha.

³⁶ Daawiti bara ifiititti fedha Waaqaa tajaajilee du'eera; nafi isaa abbootii isaa biratti awwaalamee tortoreera.

³⁷ Ka Waaqi du'a keessaa kaase ammoo, nafi isaa hin tortorre.

³⁸ Tanaaf obboleeyyan tiyya, araarri cubbu'uu karaa Yesuusiitiin akka isinii lallabame beeka'a.

³⁹ Nami isatti dhugeeffatu duudiin, cubbuu seerri karaa Muuse'eetiin kenname bilisa baasiisaaf hin dandeenne duudii jalaa bilisa baya.

⁴⁰⁻⁴¹ Tanaaf wonni raagoti,

«Ilaala'a, isin worra shasheessitoota! Baaseffadha'a! Bada'a!
Waan eenulle yoo isinitti hime hin dhugeeffanne,
ani bara keessanitti hin huja» jedhantee ta dubbatante,
akka isin irratti hin muummonne ifi eegadha'a» jedhe.

⁴² Yennaa Phawuloosii fi Baarnaabaas Mana Waaqonfannaa Yihudootaa keessaa bayanee deemanu, Sanbata itti aanu dhufanee marroo waan kanaa akka itti himanuuf namooti isaan kadhatane.

⁴³ Kolbaan wolde'a Mana Waaqonfannaa Yihudootaa irraa kaateen duuba, Yihudoota heddu'uu fi worri Yihudoota hin te'in ka gara dhugeeffannaa Yihudootaa deebi'ane, Phawuloosii fi Baarnaabaas hordofane. Phawuloosii fi Baarnaabaas isaan haasessanee, badhaadha Waaqaatiin jabaatanee akka jiraatanu isaan gorsane.

⁴⁴ Sanbata itti aanu worra qachaa sanii keessaa hedduun Jecha Waaqaa dhage'iisaaf wolitti qabamane.

⁴⁵ Worri Yihudootaa heddummaa namootaa yennaa dhagge, hinaaffa'aan guutamanee, waan Phawuloos jedhu moromanee isa arrassane.

⁴⁶ Phawuloosii fi Baarnaabaas ammoo sodaa malee, «Jechi Waaqaa dursee isiniif himamuu qabaayyu; isin ammoo fudhatuu diddane, jiruu bara baraatitti galiisaaf worra hin malle eega ifiin jettane, nuuti isin lakkinnee gara worra Yihudoota hin te'inii dhaqaarra.

⁴⁷ Gootaan,
«Haga qaccee lafaa duudii fayyinna akka fiddu,
Ani worra Yihudoota hin te'iniif ifa si godheera» jedhee
nu ajajeera» jedhane.

⁴⁸ Worri Yihudoota hin te'in tana yennaa dhage'e, gammadee jecha Waaqaalle ulfeesse; worri jiruu bara baratiif filameeru duudiille dhugeeffate.

⁴⁹ Jechi Goota'aalle adaala biyya sanii maratti babadhatte.

⁵⁰ Yihudooti ammoo, dubartoota dureeyyii ta dhugeeffannaa Yihudootaa hordottuu fi worra gugurdaa qachaa sanii, Phawuloosii fi Baarnaabaas irratti miidhaa akka kaasanu godhane, adaala biyya sanii keessaa isaan baasane.

⁵¹ Phawuloosii fi Baarnaabaas tana isaanitti mormiisaaf bukuu miila isaanii dhodhowatanee, gara qachaa Iqoniiumii deemane.

⁵² Dhugeeffattooti qachaa Anxokiya'aa gammadaa fi Ayyaana Woyyichaan guutante.

14

Phawuloosii Fi Baarnaabaas Qachaa Iqoniiumii Keessatti

¹ Phawuloosii fi Baarnaabaas qachaa Iqoniiumii keessalle'etti gara Mana Waaqonfannaa Yihudootaa seenanee, akka maltetti waan barsiisaneef, Yihudootii fi Giriikooti hedduun dhugeeffatane.

² Yihudooti hin dhugeeffatin ammoo, worra Yihudoota hin te'in kakkaasane, dhugeeffattoota akka jibbanu godhane.

³ Tanaaf Phawuloosii fi Baarnaabaas, sodaa malee marroo Gootta'aa dub-bataa yennaa hedduu achi turane; Goottaalle akka isaan baasaa fi bilbaasota godhanu hunna isaanii kennee, Jecha badhaadha ifii mirkaneesse.

⁴ Worri qachaa sanii ammoo, gargar qoqoodamee, gariin gara Yihudootaa, gariin gara ergantootaa gorane.

⁵ Worri Yihudoota hin te'inii fi Yihudooti, bulchitoota ifii woliin te'anee, Phawuloosii fi Baarnaabaas rakkisiisaa fi dhaka'aan tumiisaaf barbaadane.

⁶ Phawuloosii fi Baarnaabaas yennaa tana beekane, gara qachoota lafa Liqaa'oniya'aa ka Lisxira'aa fi Derbee jedhamanuutii fi biyya adaala sanii baqatane.

⁷ Isaan achitti Oduu Gammadaa lallabane.

Phawuloosii Fi Baarnaabaas Qachaa Lisxira'aa Fi Derbe'eetitti

⁸ Qachaa Lisxira'aa keessa namichi miilli isaa naafateeru tokko jiraayyu; inni guyyaa dhalateenuu jalqabee fafa waan te'eef, miila ifitiin deemee hin beeku.

⁹ Namichi kun achi tee'ee waan Phawuloos jedhu dhage'aa ture. Phawuloos namicha hubatee ilaalee, dhugeeffannaa isa fayyittu akka inni qabu yennaa dhagge,

¹⁰ «Ka'ii qajeelii, miila keetiin dhaabadhu» jedhee qoonqoo guddoon dubbate. Namichille utalee ka'ee, asii fi achi deemuu jalqabe.

¹¹ Gumiin waan Phawuloos godhe yennaa dhaggite, qoonqoo guddoon, «Waaqoti namoota fakkaatanee gara keenna gad bu'aneeran» jedhanee afaan Liqaa'oniya'aatiin dubbatane.

¹² Baarnaabaasii, «Ze'os» jedhanee maqaa mootii waaqota ifitiin moggaasane; Phawuloos ammoo ka guddoo dubbate waan te'eef, akka ergamaa waaqota ifiititti, «Hermes» jedhanee moggaasane.

¹³ Hayyichi, galma Ze'osii ka qacha'aan ala jiru keessa tajaajilu, korommi'ii fi daraaraa gara karra qacha'aa fidee, kolbaa woliin Phawuloosii fi Baarnaabaasiif ciincaa dhikeessiisaaf barbaade.

¹⁴ Phawuloosii fi Baarnaabaas waan kana yennaa dhage'ane woyaa ifii tarsaasane, gara odduu kolba'aa rukkisane; qoonqoo ifiille ol qabatane,

¹⁵ «Jarana, isin maaf waan kana gootan? Nuutille namuma akka keessanii ti. Nuuti akka isin waan gatii hin qanne irraa fagaattanee, gara Waaqa jiraataa ol-gubbaa, lafa, abbaaya'aa fi waan isii keessa jiru duudii dadee, akka deebitanu Oduu Gammadaa isiniif lallabaarra.

¹⁶ Bara dhaloota dabareetitti kolbaan duudiin karaa ifii akka deentu Waaqi isaan lakkiseera.

¹⁷ Te'uu malee bokkeya ol-gubbaa irraa isiniif kennaa, midhaan yennaa ifiititti akka midhaan buusuu godhaa, sagalee isiniif kennaa, gadhaa keessan gammadaan guutaa, waan dansaa godhiisaan Waaqummaa ifii mudhiseera» jedhane.

¹⁸ Ergantooti tana mara dubbatanulle, rakkinna jaba'aan ciincaa akka isaaniif hin dhikeessine jara dhooggane.

¹⁹ Yihudooti ammoo qachoota Anxokiya'aatii fi Iqoniiyumii dhufanee, akka kolbaan yaada isaanii fudhattee Phawuloos irratti kaatu godhanee, dhaka'aan isa tumane; du'eera seyaneelle qachaa keessaa harkisane gad baasane.

²⁰ Te'uu malee yennaa dhugeeffattooti dhufanee isatti naannowanee dhaabbatane, Phawuloos lafaa ka'ee gara qacha'aa ol deebi'e. Boruyyaa Baarnaabaas woliin gara qachaa Derbe'ee dhage.

Phawuloosii Fi Baarnaabaas Gara Anxokiya'aa Deebi'ane

²¹ Phawuloosii fi Baarnaabaas qachaa Derbe'eetitti Oduu Gammadaa lallabane, namoota hedduu dhugeeffattoota godhaneen duuba, gara qachoota Lisxira'aa, Iqoniiumii fi Anxokiya biyya Phisiidiyaa keessatti dhaggantuu deebi'ane.

²² Isaan dhugeeffattoota jajjabeessaa, dhugeeffannaalle'een akka jabaatanu gorsaa, «Gara Mootummaa Waaqaa galiisaaf rakkoo hedduu keessa qaxxaamuruu qanna» jedhane.

²³ Ergantooti wolde'a kiristaanaa tokko tokkottuu jaarsolee filanee, laamane daadimataneen duuba, Gootaa itti addatanetti magannee isaan kennatane.

²⁴ Phawuloosii fi Baarnaabaas biyya Phisiidiyaa keessa dabaranee gara biyya Phamfiliya'aa dhufane.

²⁵ Phergeelle'etti Jecha Waaqaa lallabaneen duuba, gara qachaa Aaalii'aatti gad bu'ane.

²⁶ Achille'ee gara addee hujii amma muummessane tanaaf, badhaadha Waaqaatiif itti kennamane, hoboloo gudditti'in Anxokiya'atti deebi'ane.

²⁷ Isaan Anxokiya yennaa geyane, kolbaa wolde'a kiristaanaa wolitti qabane, waan Waaqi karaa isaaniitiin godhe duudi'ii fi worra Yihudoota hin te'iniif karaa dhugeeffanna'aa attam akka bane himane.

²⁸ Achille'etti dhugeeffattoota waliin yennaa hedduu turane.

15

Yaa'ii Yerusaalemii

¹ Worri gariin biyya Yihuda'aa irraa gara Anxokiya'aa dhufee, «Akka Seerri Muuse'ee ajajutti haqanqabaa yoo qabatane malee, fayyuu hin dandeetanu» jedhaa dhugeeffattoota barsiisuu jalqabe.

² Wonni kun akka Phawuloosii fi Baarnaabaas, namoota san waliin falmanuu fi moromanu goote. Tanaaf Phawuloosii fi Baarnaabaas dhugeeffattoota dhibii ka biyya Anxokiya'aa keessa jiranu garii waliin gara Yerusaalemii dhaqanee, waan kana ergantootaa fi jaarsolee wolde'a kiristaanaa waliin akka ilaalanu murteeffame.

³ Tanaaf isaan wolde'a kiristaanaatiin ergamane deemane; isaan Finiige'ee fi Samaariyaa keessa taraa, worri Yihudoota hin te'in gara Waaqaa akka deebi'ee fi dhugeeffate himane. Oduun tunille dhugeeffattoota duudii guddoo gammachiitte.

⁴ Yennaa isaan Yerusaalem geyane, wolde'i kiristaanaa, ergantootaa fi jaarsoleen isaan fudhatane; worri ergamelle Waaqi isaan waliin jiraatee waan godhe mara itti himane.

⁵ Golii worra Fariisaayotaa keessaa dhugeeffattooti gariin ammoo ol ka'ane dhaabbatane, «Worri Yihudoota hin te'in akka haqanqabaa qabatuu fi Seera Muuse'ee akka eegatu godhuun barbaachisa'a» jedhane.

⁶ Ergantootaa fi jaarsoleen dubbii tana ilaaliisaaf wolitti qabamane.

⁷ Moromaa heddu'uun duuba Pheexroos ol ka'ee, «Obboleeyyan tiyya, worri Yihudoota hin te'in karaa kiyyaan Oduu Gammadaa dhage'ee akka dhugeeffatuuf, tanaan dura Waaqi isin keessaa akka na file hin beettan.

⁸ Waaqi gadhaa namaa beeku, Ayyaana Woyyicha akkuma nu'uuf kenne, isaanille'eef kennee akka isaan fudhate dhugaa bayeef.

⁹ Inni gadhaa isaanii dhugeeffanna'aan waan qulqulleesseef, nu'uu fi isaan wodhakka'atti garaa garummaa hin goone.

¹⁰ Yoona ba'aa abbootii teennaalle te'e nuuti ba'atiisaaf hin dandeenne, qaacira dhugeeffattootaa irratti feetanee, maaf Waaqa haga ilaaltan?

¹¹ Nuutille akkuma isaanii, badhaadha Goottaa keenna Yesuus Kiristoosi-itiin akka fayyine hin dhugeeffanna» jedhe.

¹² Baarnaabaasii fi Phawuloos baasaa fi bilbaasota Waaqi karaa isaaniitiin worra Yihudoota hin te'in oddu'utti huje yennaa dubbatanu, gumiin duudiin cadhi jettee dhageette.

¹³ Isaan dubbatanee fixataneen duuba Yaaqoob deebisee, «Obboleeyyan tiyya, na caqasa'a!

¹⁴ Waaqi dursee kolbaa maqaa isaatiin waammantu keessaa filatiisaaf, worra Yihudoota hin te'in attam akka ilaale, Simoon nutti himeera.

¹⁵ Dubbiin raagotaa yaada kana woliin guutumatti wolii galti; kunille akkuma Barreeffam Woyyichi,

¹⁶ ««Kanaan duuba ani hin deebi'a;
mana* Daawitii ka jige hin ijaara;
diigama isaalle deebisee ijaaree,
adde'etti hin deebisa.

¹⁷ Worri hafe duudiille gara kiyya akka dhufu,
worri Yihudoota hin te'in
ka ani maqaa kiyyaan waame duudiin kiyya akka te'uuf,
Gootaan tana godhu akkas jedha.

¹⁸ Kun duriin jalqabee ka beekkameeru» jedhu.

¹⁹ «Tanaaf akka yaada kiyyaatitti, worra Yihudoota hin te'in ka gara Waaqaa deebi'anu rakkisuu hin qannu.

²⁰ Addee akkasii, sagalee waaqotaaf dhikaatiisaan battootte hin nyaatina'a; sagaagala irraa fagaadha'a; foon horii hudhamee du'ee akka hin nyaanne, dhiigalle akka hin nyaanne jennee, isaaniif barreessuu qanna.

²¹ Duriin jalqabee Seerri Muuse'ee sanbata mara Mana Waaqonfannaa Yihudootaatitti dubbifameeraayyu; Jechi isaalle qachaa duudii keessatti lallabama» jedhe.

Xalayaa Dhugeeffattoota Yihudoota Hin Te'iniif Barreeffame

²² Achiin duuba ergantootaa fi jaarsoleen, wolde'a kiristaanaa duudii woliin kolbaa keessaa worra garii filanee, Phawuloosii fi Baarnaabaas woliin gara Anxokiya'aa ergiisaaf murteeffatane. Isaan namoota lama Yihudaa ka Baarnaabaas jedhamuu fi Siilaas, worra dhugeeffattootaan kabajamane filanee ergane.

²³ Xalayaan barreeffamee isaanitti kenname ka asii gad jiru:
«Nu ergantootaa fi jaarsoleen obboleeyyan teessan, isin obboleeyyan teenna dhugeeffattoota Yihudoota hin te'in ka qachaa Anxokiya'aa, biyya Sooriya'aatii fi Qiliiqiyaa keessa jirtanuuf nageya keenna dhikeessina.

²⁴ Nu keessaa worri gariin adoo nuuti isaan hin ajajin, gara keessan dhufanee, dubbii isinitti himaneen akka isin rakkisane fi yaada keessan raasane dhageenneerra.

²⁵ Tanaaf wolitti qabanneen duuba, ifi keessaa namoota foonee, jaalota keenna Baarnaabaasii fi Phawuloos woliin gara keessan ergiisaaf wolii galleerra.

²⁶ Baarnaabaasii fi Phawuloos worra jiruu ifii Goottaa keenna Yesuus Kiristoosiif dabarsee kenneeru.

²⁷ Woma nuuti barreessine, afaan isaaniitiin akka isinitti himanuuf, Yihudaa fi Siilaas isinii ergineerra.

²⁸ Waan barbaachisaa te'e malee, ba'aa dhibii akka isinitti hin feene, Ayyaana Woyyichaa fi nu'utti dansaa teetee mudhatteerti. Kunille:

* 15:16 Mana: Mootummaa

²⁹ sagalee waaqotaaf dhikaatte hin nyaatina'a; foon horii hudhamee du'ee hin nyaatina'a; dhiiga isaalle hin nyaatina'a; sagaagala irraa fagaadha'a; yoo waan kana duudii irraa ifi eegattane, waan dansaa gootan; nageyaan jiraadha'a.»

³⁰ Worri ergame ka'anee gara Anxokiya'aa gad bu'ane; achitti wolde'a dhugeeffattootaa wolitti qabane, xalayaa san itti kennane.

³¹ Dhugeeffattooti yennaa xalayaa dubbisane, ergaa jajjabeessitu saniin guddoo gammadane.

³² Yihuda'aa fi Siilaas raagota waan te'aneef, dubbii heddu'uun dhugeeffattoota gorsanee jajjabeessane.

³³ Yihuda'aa fi Siilaas guyyoota diqqaa achi turaneen duuba, dhugeeffattootaan nageya wolitti dhaamane, gara worra isaan ergee deebi'ane. [

³⁴ Siilaas ammoo achitti hafiisaaf murteeffate.]

³⁵ Phawuloosii fi Baarnaabaas dhugeeffattoota hedduu waliin te'anee, Jecha Goota'aa barsiisaa, lallabaalle Anxokiyaa keessa turane.

Phawuloosii Fi Baarnaabaas Gargar Bayane

³⁶ Guyyoota diqqa'aan duuba Phawuloos, Baarnaabaasiin, «Koottu deebi-nee, qachaa Jecha Waaqaa itti lallanne duudii dhandhee, akka dhugeeffattooti dhugeeffanna'aan jajjabaatanee jiranu ilaalla» jedhe.

³⁷ Baarnaabaas ammoo, Yohaannisiin Maarqoos jedhamu isaan faana akka deemu barbaade.

³⁸ Phawuloos ammoo, akka nami kun isaan waliin deemu hin eeyyanne; sababille inni Phamfiliya'atti hafee, gara huji'iille isaan waliin hin deenne.

³⁹ Tanaaf Phawuloosii fi Baarnaabaas wodhakka'atti wol dhab guddaan ka'ee gargar bayane; Baarnaabaas, Maarqoos ifi faana fudhatee, hoboloo gudditti'in gara Qophiroosii deeme.

⁴⁰ Phawuloos ammoo, Siilaas filate; dhugeeffattootille badhaadha Goota'aatitti Phawuloos magannee kennataneen duuba, inni isaan biraa deeme.

⁴¹ Phawuloos wolde'a kiristaanaa jabeessaa, biyya Sooriya'aatii fi Qili-iqiya'aa keessa dabare.

16

Ximootewoos Phawuloosii Fi Siilaas Waliin Deeme

¹ Phawuloos gara qachaa Derbe'ee dhaqee, qachaa Lisxira'aatitti dabare. Achi dhugeeffataan Ximootewoos jedhamu tokko jiraayyu. Haati isaa Yihudittii kiristaana teeteertu; abbaan isaa ammoo nama Giriiki'ii ti.

² Ximootewoos dhugeeffattoota qachaa Lisxira'aatii fi Inqoniiyum keessa jiranu duudii biratti gurra dansaa qabaayyu.

³ Phawuloos akka Ximootewoos isa faana deemu waan barbaadeef, haqanqabaa isa qabe. Sababille Yihudooti achi jiranu duudiin abbaan Ximootewoosii Giriikii akka te'e waan beekaneef tana godhe.

⁴ Isaan qachoota keessa yennaa dabaranu, murtee ergantootaa fi jaarsoleen Yerusaalem keessatti muraneef dhugeeffattooti akka ajajamanu itti himane.

⁵ Maarre wolde'ooti Kiristaanaa dhugeeffanna'aan jajjabaatanee, guyyuma guyya'aan laakkossaan heddatane.

Phawuloos Namicha Lafa Meqedooniya'aa Yaadaan Dhagge

⁶ Phawuloosii fi Siilaas lafa Asiya'aatitti Jecha Waaqaa akka hin lallanne Ayyaanni Woyyichi waan dhooggeef lafa Firiigiya'aatii fi Galaatiya'aa keessa dabaranee deemanee.

⁷ Yennaa fuullee lafa Misiyaasii geyane godina lafa Bitaaniiya'aa, dhaqi-isaaf wodhaanane. Ayyaanni Yesuusii ammoo isaaniif hin eeyyanne.

⁸ Maarre isaan lafa Misiyaasii keessa dabaranee, gara Xiirrosii gad bu'ane.

⁹ Halkan san namichi lafa Meqedooniya'aa tokko dhaabbatee, «Gara lafa Meqedooniya'aa koyiitii nu qarqaar» jedhuun Phawuloos yaadaan dhagge.

¹⁰ Phawuloos waan kana yaadaan* dhaggeen duuba, akka nuuti Oduu Gammadaa kolbaa Maqedooniya'aatiif lallannu, Waaqi akka nu waame waan hubanneef, yoosuma gara Maqedooniya'aa dhaqiisaaf qophoonne.

Liidiyaan Goota'atti Dhugeeffatte

¹¹ Qachaa Xiirrosiitii hoboloo gudditti'in kaanee, adoo asii achi hin gorin gara oddoola Samotiraaqe'ee dhandhee, boruyyaa gara qachaa Ne'apholiisitti dabarre.

¹² Achille'ee qachaa Filiphisiyyuusii geenne; qachaan Filiphisiyyuusii qachaa guddaa Maqedooniyaa keessatti beekkamu, ka worri Rooma'aa itti qubateeru; achille guyyaa hedduu bubbulle.

¹³ Guyyaa Sanbataa karra qacha'aatiin ala baanee, gara irga lagaa addee Yihudooti daadimataaf wolitti qabamanuu seenee dhandhe; achi teenneelle dubartoota achitti wolitti qabanteertu Jecha Waaqaa barsiinne.

¹⁴ Dubartoota nu caqasiisatti jirtu keessaa, dubartiin qachaa Tiyaatira'aatii dhutte, ta woyaa dhiillee gatii guddo'oo gurgurtu takka jirtiyyu; maqaan isi'ii Liidiyaa jedhama. Isiin dubartii Waaqa waaqonsitu; waan Phawuloos jedhu akka caqattuuf, Gootaan qalbii isi'ii bane.

¹⁵ Isi'ii fi worri mana isi'ii keessa jiru cuuphameen duuba, «Akka ani Goota'atti dhugeeffadhe ka fudhattanu yoo te'e, mana kiyya kowa'aa tura'a» jettee jabeessitee kadhatte.

Phawuloosii Fi Siilaas Hidhamane

¹⁶ Gaafa tokko gara addee daadimanna'aa adoo deennuu, durrittii garbittii ayyaana hamaa waan gara duraa morsiisu qaddu takkaan woldeenne; isiin moriisaan goottota ifitiif beese hedduu galchaa turte.

¹⁷ Isiin, «Namooti kun tajaajiltoota Waaqa Ol-aana'aa ti! Isaan karaa fayyinnaa isinitti lallaban» jettee iyyaa Phawuloosii fi nu hordotte.

¹⁸ Isiin guyyaa hedduu itti deddeebisaa kana goote. Phawuloos ammoo aaree itti garagalee ayyaanni sun isii keessaa akka bawuuf, «Maqaa Yesuus Kiristoosiitiin akka isii keessaa baatu si ajaja» jedhe; ayyaanni sun yoosuma isii keessaa baye.

¹⁹ Goottoti isi'ii, addiin beese isaan dhaggatanuu akka irraa hatte yennaa hubatane, Phawuloosii fi Siilaas qabane harkisaa gara badhinna dikko'oo fidanee, worra baallii qabu dura dhikeessane.

²⁰ Qondaaltota worra Rooma'aa duratti isaan fidanee, «Jarri tun Yihudoota; isaan qachaa keenna raasiisatti jiran.

²¹ Isaan aadaa nu worri Rooma'aa fudhatiisaaf yookiin hujiisaaf seeraan ala te'e nu barsiisan» jedhane.

²² Gumiin wol qabatee Phawuloosii fi Siilaas miidhiisaaf kaate.

Achiin duuba qondaaltoti, woyaa Phawuloosiitii fi Siilaasii tarsaattee akka isaan ule'een dikamanu ajajje.

* **16:10** Yaadaan: Mudhi'in

²³ Akka malee dikamaneen duuba gara mana hidha'aa galchisiisane; achitti jabeessee akka isaan eeguuf, eeddicha mana hidha'aa ajajane.

²⁴ Eeddichi ajaja kana fudhateen duuba, kolloo mana hidha'aa ta keessaatitti isaan galchee, miila isaanii jirma ulfaataa lama wodhakka'atti jabeessee hidhe.

²⁵ Gara halkan wodhakka'aatitti Phawuloosii fi Siilaas daadimanna'aa fi faaru'uun Waaqa leellifataaraniyyu; worri hidhame dhibiille isaan caqasaaraayyu.

²⁶ Dedhuma haga hundeen mana hidha'aa raafantutti tacho'i lafaa guddaan te'e; balbalti duudiin takkumaan banante; wodaroon sibiilaa namoota hidhamane duudii irraa hiikante.

²⁷ Namichi mana hidha'aa eegu hirriibaa dammaqee, balbalti mana hidha'aa bananteertuun yennaa dhagge, worri hidhameeru isa duraa waan miliqeeru seyee, ifi ijjeesiisaaf shallaagaa buqqifate.

²⁸ Phawuloos ammoo qoonqoo guddo'oon, «Nu martinuu waan as jirruuf, woy ifi hin godhin» jedhaa itti iyye.

²⁹ Yennaa kana namichi mana hidha'aa eegu, ifa fichisiifatee gara mana hidha'aa ol seenee, roromma miila Phawuloosiitii fi Siilaasititti jige.

³⁰ Achiin duuba inni isaan gad yaasee, «Goottota tiyya! Ani fayyiisaaf maan godhuu qaba?» jedhe.

³¹ Isaan deebisane, «Goottaa Yesuusitti dhugeeffadhu; ati hin fayyita; maatiin teetille hin fayyiti» jedhane.

³² Achiin duuba Jecha Waaqaa isaa fi worra mana isaa keessa jiru duudi'iif himane.

³³ Halkan saatuma sanitti, namichi mana hidha'aa eegu isaan fuudhee madaa isaanii dhige; yoma san innii fi worri mana isaa duudiille cuuphame.

³⁴ Kanaan duuba inni Phawuloosii fi Siilaas gara mana ifii geessee, sagalee isaaniif dhikeesse; inni Waaqatti waan dhugeeffateef, innii fi maatiin isaa guddoo gammadane.

³⁵ Boruyyaa ganama qondaaltoti worra Rooma'aa, «Jara san gad dhiisi!» jedhane namicha mana hidha'aa eegutti akka himanuuf Poolisoota itti ergane.

³⁶ Maarre namichi mana hidha'aa eegu, «Qondaaltoti worra Rooma'aa akka isin gad lakkifantanu nutti erganeeran; tanaaf gad baya'aatii nageyaan deema'a» jedhee Phawuloositti hime.

³⁷ Phawuloos ammoo, «Jarri tun nuuti worra Rooma'aa teennee adoo jirruu, adoo yakkaan nu'utti hin muramin kolbaa duratti nu dhaanane, mana hidha'aatitti nu galchane; amma ammoo dhossa'aan gad nu baasanii? Tun hin teetu! Isaanuu dhufanee nu baasanuu ti» jedhe.

³⁸ Poolisooti waan kana qondaaltota worra Rooma'aatitti himane; qondaaltoti worra Rooma'aalle Phawuloosii fi Siilaas worra Rooma'aa akka te'ane yennaa dhage'ane sodaatane.

³⁹ Tanaaf dhufanee araara isaan gaafatane, mana hidha'aa keessaa isaan baasane; qachaa keessalle'ee akka bayanuuf kadhatane.

⁴⁰ Phawuloosii fi Siilaasille mana hidha'aa keessaa bayanee, gara mana Li-idiya'aa dhaqane. Achitti dhugeeffattoota dhagganee jajjabeessane; achiin duuba ka'ane deemane.

¹ Phawuloosii fi siilaas qachoota Amfiipholiisiitii fi Apholoniya'aa keessa dabaranee, gara qachaa Tasalonge'ee dhaqane; achi manni waaqonfannaa Yihudootaa jiraayyu.

² Phawuloos akkuma yennaa mara godhu mana waaqonfannaa Yihudootaa seenee, Sanbata sad marroo Barreeffama Woyyichaa isaan woliin dubbate;

³ inni dubbii isaaniif issee himaa Masihiin rakkatiisaa fi du'aa ka'uu akka qabu mirkaneessee, «Yesuusiin ani isinitti lassu kun Masihiin» jedhe.

⁴ Isaan keessaa gariin, Giriikoota Waaqa waaqonfatanu heddu'uu fi dubartooti beekkamane hedduun dubbii isaa fudhatanee, Phawuloosii fi Siilaas woliin wol qabatane.

⁵ Yihudooti ammoo isa hinaafanee, namoota hujii malee karaa irra yaa'anuu wolitti qabane, hammeessanee, nageya booraussane; isaan qachaa san duudii raasane, Phawuloosii fi Siilaas kolbaa duratti gad baasiisaaf mana namicha Yaason jedhamuu cassane.

⁶ Yennaa Phawuloosii fi Siilaas dhabane ammoo, Yaasonii fi dhugeeffattoota garii harkisane, bulchitoota qacha'aa duratti geessanee, «Worri biyya lafaa duudii rakkise kun, amma gara qachaa keennaalle dhufeera.

⁷ Yaasonille mana ifiititti isaan fudhateera; isaan duudiin, «Mootiin dhibiin ka Yesuus jedhamu jira» jedhaa, seera mooticha mootota worra Rooma'aa morman» jedhaa iyyane.

⁸ Gumi'ii fi bulchitooti qachaa sanii waan kana yennaa dhage'ane raafamane.

⁹ Worri bulchitootaa Yaasonii fi worra isa woliin jiranu wobii waansisane gad lakkisane.

Phawuloosii Fi Siilaas Beriya'atti

¹⁰ Halkanuma san dhugeeffattooti, Phawuloosii fi Siilaas gara qachaa Beriya'aa ergane. Isaan yennaa achi geyane mana waaqonfannaa Yihudootaa dhaqane.

¹¹ Yihudooti Berii'a jiranu worra Tasalonge'ee caalaa yaada dansaa qaban. Isaan wonni Phawuloos dubbate dhugaa akka teete beekiisaaf, guyyuma guyya'aan fedhii guddoon Barreeffama Woyyicha qorqorane.

¹² Isaan keessaa worri hedduun, Giriikoota keessalle'ee dubartooti beekkamane fi dhiirti hedduun dhugeeffatane.

¹³ Yihudooti Tasalongee keessa jiranu ammoo, Phawuloos Jecha Waaqaa qachaa Beriya'aalle'etti akka lallabe yennaa dhage'ane, achille dhaqanee kolbaa hammeessanee nageya booraussane.

¹⁴ Yoosuma dhugeeffattooti Phawuloos gara irga abbaaya'aa ergane; Siilaasii fi Ximootewoos ammoo qachuma Beriya'aatitti hafane.

¹⁵ Namooti Phawuloos geegessane qachaa Ateena'aatiin isa geyanee, dhaansa Phawuloos, «Siilaasii fi Ximootewoos ariiti'in gara kiyya dhufanuu ti» jedhe fuudhanee gara qachaa Beriya'aa deebi'ane.

Phawuloos Ateena'atti Lallabe

¹⁶ Phawuloos qachaa Ateena'aa keessatti Siilaasii fi Ximootewoos adoo eeguu waaqoti qachaa san attam akka guutane yennaa dhagge, gadhaan isaa gubate.

¹⁷ Maarre inni Mana Waaqonfannaa Yihudootaa keessatti Yihudootaa fi Giriikoota Waaqa waaqonfatanu, worra addee dikko'ootitti dhaggu woliin'een dudubbate.

¹⁸ Worra Ephequriyoosii fi Istoyikos jedhamanu keessaa ka waan biyya lafaa qorqoranu isatti falmane; gariin, «Funaantichi kun maan jedhuu barbaada?» jennaan,

Worri dhibiille waan Phawuloos marroo Yesuusiitii fi du'aa ka'a isaa lallabeef, «Inni marroo waaqota ormaa dubbataara fakkaata» jedhane.

¹⁹ Maarre isaan Phawuloos qabane kora gaara Aariyophaagos jedhamuu irratti wolitti qabamu dura geessanee, «Barsiisa haareya ati barsiittu kana maan akka te'e beekuu dandeenna?»

²⁰ Wonni ati jettuun dhageenne gariin haareya nutti teeteerti. Tanaaf wonni kun maan akka teete beekuu barbaanna» jedhaneen.

²¹ Worri Ateena'aa duudi'ii fi ormi achi le'u duudiin waan haareya odeessu'uu fi dhage'uu malee, yennaa ifi waan dhibii irratti hin dabarsanu.

²² Phawuloos kora mura'aa ka gaara Aariyophaagosii dura dhaabbatee, «Worra Ateena'aa, isin karaa maraanuu namoota dhugeeffanna'aa akka teetane dhaggeera.

²³ Ani qachaa keessan keessa dabaruun, addee isin Waaqa waaqonfattanu yennaa ilaale, addee ciinca'aa «Waaqa hin beekkanneef» jedhamee irratti barreeffame tokko dhaggeera. Yoona ani Waaqa isin adoo hin beekin waaqonfattanu kana, isinitti lallaba.

²⁴ Waaqi biyya lafaatii fi waan isii keessa jiru mara dade, Gootaan olgubba'aatii fi lafaa, galma harka namaatiin ijaarame keessa hin le'u.

²⁵ Inni nama duudi'iif jiru'uu fi hafuura, waan dhibii maralle ka kennu waan te'eef, wonni isa irraa dhidhatu hin jiru; qarqaarsi namaalle isaaf hin barbaachisu.

²⁶ Inni sanyii namaa duudii nama tokko irraa dadee, lafa mara irra akka le'anuu godhe; inni bara leetoo isaaniitii fi addee leetoo isaaniille meessaa itti godhe.

²⁷ Waaqi akka namooti isa barbaadane qorqorane, akka dhagganuuf tana godhe. Te'uu malee Waaqi tokko tokkoo keenaa irraa fagoo hin jiru.

²⁸ Nuuti isaan jiruu dhagganna; isaan tachoona; isaan leena. Isin keessaa worri weeddisu akkuma jedhu, «Nuutille ijoollee isaa ti».

²⁹ «Nuuti eega ijoollee Waaqaa teene «Waaqi fakkii worqii irraa yookiin meetii irraa yookiin dhakaa irraa hojjatame fakkaata» jennee yaaduu hin qannu.

³⁰ Bara durii waan kolbaan wollaalchaan goote, Waaqi itti hin laakkonne; amma ammoo kolbaan addee mara jirtu duudiin, akka cubbuu irraa deebitu ajaja.

³¹ Inni karaa nama filateetiin, biyya lafaa maratti guyyaa itti muru murteesseera; nama filate san du'aa kaasiisaan, waan kana nama maraaf mirkaneesseera» jedhe.

³² Phawuloos marroo du'aa ka'iisaa dubbatuun yennaa dhage'ane, worri gariin itti murge; worri dhibiin ammoo, «Nuuti marroo waan kanaa ammalle si irraa hin dhageenna» jedhane.

³³ Yennaa san Phawuloos kora mura'aa lakkisee deeme.

³⁴ Worri gariin ammoo waan inni jedhe gula goree dhugeeffate. Worra dhugeeffate keessaa Diyyoniisiyos ka jedhamu miseensa kora mura'aa Aariyophaagosii ka te'e, akkasuma dubartii Damaariis jedhantu takkaa fi worri dhibiille jiran.

¹ Kanaan duuba Phawuloos qachaa Ateena'aa lakkisee, gara qachaa Qorontoosii dhage.

² Achitti Yihudicha biyya Phonxoosiititti dhalate, ka maqaan isaa Aqiilaa jedhamu tokkoon wol dhagge. Kilaawudiiyosiin mootichi worra Rooma'aa, Yihudooti duudiin biyya Rooma'aa keessaa akka bayanu waan ajajeef, Aqiilaan haadha manaa ifii Pharisiqiilaa waliin dhiko'otti biyya Ixaaliya'aatii dhufeeraayyu. Phawuloos isaan dhaggiisaaf dhagee,

³ hujiiin isaalle akkuma isaanii dunkaanii* hodhuu waan teeteef, isaan bira tee'ee hojjate.

⁴ Sanbata Sanbata Phawuloos Mana Waaqonfannaa Yihudootaa dhagee, Yihudootaa fi Giriikoota dhugeeffachiisu'uuf wodhaane.

⁵ Siilaasii fi Ximootewoos biyya Maqedooniya'aatii yennaa deebi'ane, Phawuloos yennaa ifii mara jecha Waaqaa lallabaa, Yesuus Masiihii akka te'e Yihudootaaf dhugaa baye.

⁶ Yihudooti isa mormanee arrassiinaan, inni bukuu woyaa ifii irraa dhodhowatee, «Dhiigi keessan isinittuu deebi'a; ani itti hin gaafatamu. Ammaa jalqabee gara worra Yihudoota hin te'iniin dhaga» isaaniin jedhe.

⁷ Achiin duuba Phawuloos Mana Waaqonfannaa Yihudootaati ka'ee, gara mana namicha Tiitoosii Yuxsos jedhamu, ka Waaqa waaqonfatuu dhage; manni namicha sanii mana Waaqonfannaa Yihudootaa bira jiraayyu.

⁸ Kiriisphos ka jedhamu bulchaan mana waaqonfannaa Yihudootaa, nama ifii duudii waliin Goota'atti dhugeeffate; Qorontoos keessalle'ee kolbaan dhibiin hedduun, waan Phawuloos dubbate dhageettee dhugeeffattee, cuuphante.

⁹ Gootaan gaafa tokko oojju'uun Phawuloositti dubbatee, «Hin sodaatin; lallabuma lallabi malee, hin cadhisin.

¹⁰ Ani si waliin jira; ani qachaa kana keessaa kolbaa hedduu waan qabuuf, eennulle si hubiisaaf† hin dande'u» jedhe.

¹¹ Maarre Phawuloos woggaa tokkoo fi ji'a jaa, Jecha Waaqaa kolbaa barsiisaa ture.

¹² Bara Gaalii'oon bulcha biyya Akaayya'aa te'etti Yihudooti wolii galanee, Phawuloos qabane; isaan gara mana mura'aa isa geessanee,

¹³ «Nami kun karaa seera keenna mormuun, kolbaa sossobaa akka Waaqa Waaqonfattu godha» jedhane.

¹⁴ Phawuloos adoo dubbatiisaaf jedhuu, bulchaan Gaalii'oon Yihudootaan, «Wonni kun yakkaa hantuu yookiin dokonkora hojjatame adoo teete, himata keessan silaa hin dhage'aayyu.

¹⁵ Ammoo wonni kun marroo moromaa jechootaa, marroo moromaa maqa'aatii fi seera keessanii eega teete, isinuu fixadha'a. Ani waan kana irratti hin muru» jedhee,

¹⁶ mana mura'aa keessaa isaan ari'e.

¹⁷ Yennaa kana isaan martinuu, bulchaa Mana Waaqonfannaa Yihudootaa Sostenees qabane, mana mura'aa duratti tumane. Gaalii'oon ammoo waan kana woyittuu hin laakkonne.

Phawuloos Anxokiya'atti Deebi'e

¹⁸ Phawuloos guyyaa hedduu dhugeeffattoota waliin Qorontoos keessa ture; achiin duuba nageya isaanitti dhaamee, hobolo'oon Phirisqiila'aa fi Aqiilaa waliin gara Sooriya'aa dhage; Phawuloos waadaa Waaqaaf gale waan qabuuf, lafa Kanchire'aa jedhantutti mataa ifii haadate.

* **18:3 Dunkaanii:** Woyaa akka manaa godhanee hodhane. † **18:10 Hubiisaaf:** Miidhiisaaf

¹⁹ Qachaa Efesoonii yennaa geyane, Pharisiqiila'aa fi Aqiilaa achumatti lakkisee, Mana Waaqonfannaa Yihudootaa seenee Yihudoota woliin dubbate.

²⁰ Isaan akka Phawuloos yennaa dheertuu isaan woliin turuuf gaafannaan, inni ammoo hin eeyyanne.

²¹ Ammoo «Yoo fedha Waaqaa teete deebi'ee hin dhufa» jedhee, nageya isaanitti dhaamee hobolo'oon Efesoonii ka'ee deeme.

²² Inni qachaa Qiisaariya'aa yennaa geye, gara Yerusaalemii dhaqee wolde'a kiristaanaatiif nageya dhikeessee, achiin duuba gara Anxokiya'aa gad bu'e.

²³ Yennaa diqqoo Anxokiyaa tureen duuba ka'ee, biyya Galaatiya'aatii fi Firiigiya'aa keessa dabaree, deddeemee dhugeeffattoota duudii jajjabeesse.

Apholoos Biyya Efesooniitii Fi Qorontoosii keessatti

²⁴ Yennaa san Yihudichi Apholoos jedhamu tokko, ka qachaa Iskin-driya'atti dhalate gara qachaa Efesoonii dhufe. Inni nama Barreeffama Woyyicha miidhassee beekuu fi nama dandeettii dubbi'ii qabu.

²⁵ Inni nama karaa Gootta'aa baratee fi gammada gudda'aan marroo Yesuusii sirri'itti lallabee barsiise. Te'uu malee inni cuuphaa Yohaannisii callaa beeka.

²⁶ Inni sodaa malee Mana Waaqonfannaa Yihudootaa keessatti dubbatiiisa jalqabe. Pharisiqiila'aa fi Aqiilaan dubbii isaa yennaa dhage'ane, gara mana ifii isa fudhatanee marroo karaa Gootta'aa caalchisane sirri'itti itti himane.

²⁷ Apholoos gara Akaayya'aa deemiisaaf yennaa barbaade, dhugeeffattooti Efesoon keessaa isa jajjabeessanee, dhugeeffattooti Akaayyaa keessaa akka isa fudhatanuuf xalayaa barreessaneef. Inni yennaa achi geye, worra badhaadha Waaqaatiin dhugeeffattoota te'aneef qarqaarsa te'e.

²⁸ Inni Yesuus Masihii akka te'e Barreeffama Woyyicha keessaa isaaniif mirkaneessaa, kolbaa duratti Yihudoota mormi'iin injifate.

19

Phawuloos Efesoon Keessatti

¹ Apholoos Qorontoos keessa adoo jiruu, Phawuloos biyya koobittii olii keessa dabaree, gara Efesoonii dhufe; achitti dhugeeffattoota garii dhaggee,

² «Isin yennaa dhugeeffattane Ayyaana Woyyicha fudhattaneertanii?» jedhee isaan gaafate.

Isaan deebisane «Hin fudhanne; akka Ayyaanni Woyyichi jiruuyyu nuuti hin dhageenne» jedhane.

³ Phawuloos, «Maarre cuuphaa attamii fudhattane ree?» jedhe.

Isaan deebisane, «Cuuphaa Yohaannisii ti» jedhane.

⁴ Phawuloos, «Cuuphaan Yohaannisii ka cubbuu irraa deebi'iisaa ti; Yohaannisuu ka isaan duuba dhufu, Yesuusitti akka dhugeeffatanu kolbaa Israa'eliititti himeera» jedhe.

⁵ Isaan yennaa tana dhage'ane, maqaa Gootaa Yesuusiitiin cuuphamane.

⁶ Yennaa Phawuloos harka ifii isaan irra keye, Ayyaanni Woyyichi isaan irra bu'e; isaan afaan haareya hin beekkanneen dubbatanee, raagalle raagane.

⁷ Isaan wolumatti gara nama kudhanii lamaa ti.

⁸ Phawuloos gara Mana Waaqonfannaa Yihudootaa seenee, sodaa malee haga ji'a sadii kolbaa woliin dubbatee, marroo mootummaa Waaqaa isaan hubachiisaa ture.

⁹ Isaan keessaa gariin ammoo mataa jabaatanee, marroo karaa Gootta'aa nama duratti waan hantuu jedhaa, dhugeeffatiisa didane. Maarre Phawuloos isaan lakkisee, dhugeeffattoota qofitti fuudhee, guyyuma guyya'aan mana barumsa Xiraanosii keessatti woliin dudubbataa ture.

¹⁰ Tun haga woggaa lamaa waan teeteef, kolbaan biyya Asiya'aa keessa jirtu duudiin Yihudootaa fi worri Yihudoota hin te'in Jecha Gootta'aa dhage'ane.

Ilmaan Iskoyaasii

¹¹ Waaqi bilbaasa te'ee hin beenne karaa Phawuloosiitiin hujjiisatti jiraayyu.

¹² Kanaaf woyaa nafa Phawuloosii tuxxee fi hoccuu inni danfaan haxowatu fuudhanee, worra dhibame yennaa tuqisiisane, worri dhibame fayye; ayyaanni hamaalle keessaa baye.

¹³ Yihudooti asii fi achi deddeemaa ayyaanota hamaa namoota keessaa baasanu, «Maqaa Yesuusii Phawuloos lallabuutiin akka baatanu isin ajanya» jedhaa, ayyaanota san baasiisaaf wodhaanane.

¹⁴ Ilmaan Iskoyaasii hayyicha Guddaa Yihudootaa torba tana godhaa turte.

¹⁵ Ayyaanni hamaan ammoo, «Ani Yesuus hin beeka; Phawuloosille hin beeka; isin ammoo eennu?» isaaniin jedhe.

¹⁶ Namichi ayyaanni hamaan qabeeru isaanitti utaalee, isaan duudii injifate; isaanille mammadowanee woyaan irraa tarsaateertuun mana sanii baqatane.

¹⁷ Yihudootaa fi worri Yihudoota hin te'in ka Efesoon keessa jiranu duudiin, waan kana dhage'anee sodaatane; maqaan Goottaa Yesuusiille ulfinna guddaa dhaggate.

¹⁸ Dhugeeffattoota keessaa worri hedduun dhufanee, cubbuu ifii mudhi'itti himatane.

¹⁹ Worri Xanoo huju hedduun kitaabota ifii wolitti qabane, kolbaa duratti gubane. Gatiin kitaabota sanii hedaan gara meetii kuma shantamaa hin geya.

²⁰ Karaa hunnaamessa kanaan dubbiin Gootta'aa badhataa, guddataa deente.

Hogaa Efesoon Keessatti Ka'e

²¹ Wonni kun marti teeteen duuba, Phawuloos biyya Maqedooniya'aatii fi Akaaya'aa keessa dabaree, gara Yerusaalemii dhaqiisaaf murteeffate; inni, «Ani achi dhageen duuba, biyya Rooma'aalle ilaalu qaba» jedhe.

²² Maarre inni qarqaartota ifii keessaa lamaan Ximootewoosii fi Eraasxoos gara Maqedooniya'aa ergee, inni haga diqqaa lafa Asiya'aa keessa ture.

²³ Yennaa san qachaa Efesoonii keessatti sababa karaa Gootta'aatiif hogaan guddaan ka'e.

²⁴ Namichi meetii baqisiisuu ka maqaan isaa Demeexroos jedhamu tokko, fakkii waaqota galma Arxemiisii hujee, worra meetii baqisiisuuf bu'aa guddaa galchaa ture.

²⁵ Maarre inni worra meetii baqisiisuu fi worra akkuma isaanii hujulle wolitti qabee, «Jarana, nuuti karra ka dhaggannu hujii tanaan akka teete hin beettan.

²⁶ Namichi Phawuloos jedhamu kun Efesoon keessa calla'atti adoo hin te'in, lafa Asiya'aa duudii keessatti, waaqi harkaan hujamu ijjumaa waaqaa moti jedhaa, kolbaa hedduu sossobee akka dhugeeffachiise, isinuu dhaggi-tanee dhageettaneertan.

²⁷ Akka kanaan hujiin teenna hin tuffatanti; tana qofa adoo hin te'in galmi Arxemiisii waaqittii gudditti'ii ka Asiya'aa fi biyyi lafaa duudiin waaqonfattu gatii dhabe hafaara; guddinni isi'iille badaara» isaaniin jedhe.

²⁸ Isaan yennaa tana dhage'ane guddoo aaranee, «Arxemiisiin worra Efesoonii gudditti'ii!» jedhaa iyyane.

²⁹ Yoosuma hogaan qachaa duudii keessatti ka'e. Worri hogisu jara lamaan Maqedooniya'aa worra Phawuloos waliin deemaa ture Gaayosii fi Arisxaarkos qabane harkisane, gara addee tapha itti mudhisanu rukkisane.

³⁰ Phawuloos gumii dura bayee dhaabbatiisaaf barbaadee, dhugeeffattootii ammoo isa dhooggite.

³¹ Bulchitooti lafa Asiya'aa gariin ka lansa Phawuloosii te'ane, akka inni addee tapha itti mudhisanuu hin dhandhe, itti erganee kadhatane.

³² Gumii wodhakka'atti hogaan guddaan waan jiruuf, tokko waan tokko jedhaa yoo hogisu, kuun waan dhibii jedhaa hogisaaraayyu; hedduun isaaniille maaf akka wolitti qabamane hin beekanuuyyu.

³³ Yihudooti gariin namicha Iskindir jedhamu kolbaa duratti darbanee baasane; kolbaa keessaa gariin akka inni isaaniif falmatu itti himane. Iskindirille akka kolbaan cadhittu harka ifitiin beessisee, dubbii falmataa dubbatiisaaf qophowe.

³⁴ Isaan ammoo akka inni Yihudii te'e yennaa beekane, «Arxemiisiin Efesoonii gudditti'ii» jedhaa isaan martinuu haga saatii lama iyyane.

³⁵ Barreessaan qachaa sanii gumii cadhisiisee, «Worra Efesoonii! Worri qachaa Efesoonii galma Arxemiisii gudditti'iitii fi fakkii dhakaa isi'ii ka olgubba'aa bu'e akka eeganu, nami hin beenne jiraa?

³⁶ Waan kana nami mormu tokkole waan hin jirreef, cadhisa'a malee waan tokkole godhiisaaf hin jajjarina'a.

³⁷ Isin adoo jarri tun meya galmaa hin saamin yookiin waaqota keennalle adoo hin faanshessin as fiddaneertan.

³⁸ Demeexroosii fi worri meetii baqisiisu ka isa waliin jiru, waan ittiin nama himatanu yoo qabaatane, guyyaan mura'aa jira; worri mura'aa kenulle jira; achitti wol falmanuu ti.

³⁹ Tana malee, wonni isin barbaaddanu yoo jiraatte ammoo, kora mura'aa ka qacha'aatiin ilaallama.

⁴⁰ Waan adha te'e kanaaf, hogaa kaattaneertan jedhannee himatamuu hin dhannu; hogaan kun sababa maaniitiin ka'e jedhane yoo nu gaafatane, waan deebinnu hin qannu» jedhe.

⁴¹ Tana dubbateen duuba, wol geyin akka deentu godhe.

20

Phawuloos Biyya Maqedooniya'aatii Fi Giriikii Dhaqe

¹ Hogaan qabbanoween duuba, Phawuloos dhugeeffattoota duudii waamee, jajjabeessee, nageya itti dhaamee, isaan lakkisee gara Maqedooniya'aa dhaqiisaaf ka'e.

² Inni lafa keessa dabaretti dhugeeffattoota gorsa heddu'uun jajjabeessaa, gara biyya Giriikii deemee,

³ ji'a sad achi ture. Inni hobolo'oon Sooriyaa dhaqiisaaf adoo qophowuu, worri Yihudootaa akka mala itti dhowe yennaa beke, karaa Maqedooniya'aatiin deebi'iisaaf murteeffate.

⁴ Sophaaxros ilmi Phirosii nami biyya Beeriya'aa, Arisxaarkosii fi Sekundos nami biyya Tasalonqe'ee, Gaayos nami biyya Derbe'ee, Ximootewoos, Xikiqoosii fi Xirofimoos nami biyya Asiya'aa, Phawuloos waliin deemane.

⁵ Jarri tun nuun dura dhaxxee Xiro'aasitti nu eedde.

⁶ Nuuti ammoo guyyaan Jila Daabboo Uukoo hin qanne dabareen duuba, Filiphisiyyuusii irraa hobolo'oon kaanee, guyyaa shaniin duuba isaaniin wol dhagginee, torbaan tokko achi turre.

Phawuloos Xiro'aasitti Dheeressee Lallabe

⁷ Torbaan keessaa guyyaa qaraa, daabboo caccaffatiisaaf wolitti qabannee adoo jirruu, Phawuloos boruuyyaa deemiisaaf waan yaadeef, dubbii ifi dheeressee haga halkan wodhakka'aa kolba'atti dubbate.

⁸ Addee nuuti wolitti qabanne kolloo mana mana gubba'aa keessa ifi hedduun jiraayyu.

⁹ Dargaggeessi Oyxikoos jedhamu tokko foddaa* irra tee'eeraayyu; Phawuloos haasowa dheeressinaan, mugee dunquuqqayee, mana mana gubba'aatiin gubba'aa irraa bu'e; yennaa isaan ol isa fuudhane, inni du'eera.

¹⁰ Phawuloos ammoo gad bu'ee, gad itti jedhee hanqafatee, «Hin rifatina'a! Lubbuun isaa keessaa jirti» jedhe.

¹¹ Achiin duuba inni gara mana mana gubba'aatitti ol deebi'ee, daabboo cassee nyaate; haga latti bariitu isaan waliin dubbateen duuba deeme.

¹² Isaan Dargaggeessa jiraataa te'e san gara manaa geessanee, guddoo jajjabaatane.

Phawuloos Xiro'aas Irraa Gara Miilexoosii Dhaqe

¹³ Phawuloos karaa lafa irraa qachaa Asosii dhaqiisaaf waan yaadateef, nuuti isaan dura qachaa Asosii dhandhee, hoboloo akka isa yaabbachiinnu waan nu ajajeef, tana goone.

¹⁴ Asositti wol dhagginee, isa fudhannee hobolo'oon qachaa Mixileene'eetitti dabarre.

¹⁵ Boruuyyaa hobolo'oon achii kaanee, oddoola Kiiyosii bira geenne. Guyyaa itti aanulle oddoola Saamosii dhandhee, boruuyyaa qachaa Miilexoosii geenne.

¹⁶ Phawuloos kutaa biyya Asiya'aa keessatti turuu waan hin barbaadiniif, gara Efesoonii goruu lakkisee, hobolo'oon dabaru'uuf murteeffate. Yoo dande'ante guyyaa jila shantameesso'oo ta «Phenxeqosxee» jedhantu Yersaalem geyiisaaf ariifateeraayyu.

Phawuloos Jaarsolee Wolde'a Efesooniititti Nageya Dhaame

¹⁷ Phawuloos qachaa Miilexoosii irraa gara Efesoonii nama ergee, Jaarsolee wolde'a Efesoonii gara ifi waansise.

¹⁸ Isaan gara isaa yennaa dhufane, inni isaaniin, «Ani guyyaa qara lafa Asiya'aa dhufeen jalqabee, yennaa duudii attam akka isin waliin jiraadhe isinuu hin beettan.

¹⁹ Yihudooti mala natti dhowanee rakkadhulle, ani waan duudi'iin ifi gad qabee, imimmaaniin Gootaa tajaajile.

²⁰ Waan isiniif te'u mara adoo hin hamburin, wolde'aa fi mana keessan irra deemaa, lallabee akka barsiise isin hin beettan.

²¹ Cubbuu irraa gara Waaqaatitti deebi'anee, Gootaa keenaa Yesuus Kirsitoositti akka dhugeeffatanu, Yihudootaa fi worra Yihudoota hin te'iniif ani dhugaa bayeera.

²² Amma kunoo achitti waan natti dhufu adoo hin beekin, akeettii Ayyaana Woyyichaatiin Yersaalem dhaqaara.

²³ Qachaa ani gewu duudii keessatti hidha'aa fi miidhaan akka ana eegattu, Ayyaanni Woyyichi natti himeera.

* **20:9 Foddaa:** Ifaa fi qilleensa fudhatiisaaf qowa mana uranee baasanu, ka cufanaa diqqaa qabu

²⁴ Te'uu malee ergaa tiyya yoo fixee, hujii Goottaan Yesuus natti kenne ta Wongeela badhaadha Waaqaalle yoo lallabee muummesse, jiruu tiyya woyittuu hin laakkowu.

²⁵ «Ani odduu teessan deddeebi'ee, marroo mootummaa Waaqaa lallabeera; amma ammoo, nami tokkolle deebi'ee akka na hin dhaggine hin beeka.

²⁶ Tanaaf isin keessaa nami tokko yoo bade, akka ani itti hin gaafatanne adha isinitti hima.

²⁷ Sababille ani fedhii Waaqaa duudii isinitti himeera malee, waan isin irraa hambure hin qabu.

²⁸ Maarre ifii fi hoolee Waaqaa akka isin eeddanuuf isinitti kennantelle'eef ifi eegadha'a; wolde'a kiristaanaa ka Waaqaa, ka inni dhiiga ilma ifitiin ka ifii godhate tissa'a.

²⁹ Ani deemeen duuba, worri akka yayyi'ii odduu teessan akka seenanu ani hin beeka.

³⁰ Yennaan namooti gariin isinuma keessaa, dhugaa dassanee dhugeeffattoota ifi hordofachiisanu hin dhutti.

³¹ Tanaaf dammaqa'a! Ani woggaa sad halkanii fi guyyaa adoo gargar hin kutin imimmaaniin, tokko tokkoo keessan akka gorse qaabadha'a.

³² «Amma ani eeddoo Waaqaatitti, badhaadha ergaa isaa ka isin ijaariisa dande'uu fi eebba Waaqi kolbaa ifii duudi'iif kennutti, isin kenneera.

³³ Ani meetii, worqii yookiin uffana eennulle hin kajeelle.

³⁴ Anaa fi worra na woliin jiruuf waan barbaachisu maraa dhaggatiisaaf harka kiyyaan akka huje isinuu hin beettan.

³⁵ Jecha Goottaa Yesuusii, «Ka fudhatu caalaa ka kennu ka eebbifame» jedhe qaabatiisaan, harka keennaan hujaa, hiyyeeyyii qarqaaruu akka malle ani isinitti mudhiseera» jedhe.

³⁶ Phawuloos tana dubbatee fixeen duuba, isaan woliin jilbiiffatee daadimate.

³⁷ Isaan duudiin bowaa morma isaatitti maratane sunqatane.

³⁸ Keessattuu inni isaaniin, haganaa achii deebitanee na hin dhaggitanu waan jedheef guddoo gaddane; achiin duuba isaan haga hobolo'oo isa woliin deemane.

21

Phawuloos Yerusaalem Dhaqe

¹ Nuuti nageya isaanitti dhaannee karaa irraa adoo hin gorin hobolo'oon, gara oddoola Qosii deenne; boruuyaa oddoola Roodosii geenne; achiin duuba gara qachaa phaaxara'aa dhandhe.

² Achitti hoboloo gara Finiiqe'ee deentu dhagginee, yaabbannee ittiin deenne.

³ Nuuti Qophiroos ifiin duratti dhagginee, bitaa keennatti lakkinnee Sooriya'atti dabarree, gara Xiirrosii addee hoboloon guddittiin ba'aa itti buufattu dhandhe.

⁴ Dhugeeffattoota achi jiranu barbaannee dhagginee, torbaan tokko isaan woliin turre. Isaan Ayyaana Woyyichaan sooreffamanee, akka Phawuloos gara Yerusaalemii hin dhandhe itti himane.

⁵ Yennaan nuuti isaan biraa deennu geennaan, isaan biraa kaanee deenne. Isaan duudiin haadha manaatii fi ijoollee ifii woliin haga qachaa keessaa baanutti nu geegessane. Nuuti duudiille irga abbaaya'aa jilbiiffannee daadimanne.

⁶ Achiin duuba nageya wolitti dhaannee, hoboloo guddittii yaabbannee, isaan gara mana ifii deebi'ane.

⁷ Xiirrosii kaanee, qachaa Phitolemeesii geennee, dhugeeffattoota nageya fuunee, guyyaa tokko isaan woliin oolle.

⁸ Boruyyaa achii kaanee qachaa Qiisaariya'aa geennee, namoota torba ka ergantoota qarqaariisaaf filamane keessaa tokko ka te'e, gara mana Filiphosii lallabaa Wongeelaa dhandhee, isa bira bubbulle.

⁹ Inni durra afur ta kennaa raaga dubbatiisaa qaddu qabaayyu.

¹⁰ Nuuti guyyaa hedduu Qiisaariyaa bubbulleen duuba, raagichi Agaabos jedhamu tokko biyya Yihuda'aatii dhufe.

¹¹ Inni gara keenna dhikaatee, hiituu Phawuloos ittiin hidhatu fuudhee, miilaa fi harka ifii hidhee, «Yihudooti Yersaalem keessa jiranu, abbaa hiituu tanaa, akkana hidhanee worra Yihudoota hin te'initti dabarsanee akka kennanu, Ayyaanni Woyyichi dubbata» jedhe.

¹² Tana yennaa dhageenne, nuutii fi kolbaan achi jirtu, akka Phawuloos gara Yersaalemii hin dhandhe kadhanne.

¹³ Inni ammoo deebisee, «Maaf boottanee, guddoo na gaddisiittan? Ani hidhamuu qofa adoo hin ite'in, marroo maqaa Gootaa Yesuusiitiif Yersaalem keessatti du'iisaafille qophoweera» jedhe.

¹⁴ Inni gorsa keenna dhage'uu dhannaan, «Fedha Goota'aa te'uu ti» jennee lakkinne.

¹⁵ Guyyoota diqqaa achi tureen duuba, qophoonnee gara Yersaalemii ol baane.

¹⁶ Dhugeeffattooti Qiisaariyaa keessa jiranu gariin, nu woliin dhufanee, dhugeeffattoota qaraa keessaa tokko ka te'e, gara mana Minaasonii nama Qophiroosii akka turru nu geessane.

Phawuloos Yersaalem Geye

¹⁷ Nuuti Yersaalem yennaa geenne, dhugeeffattooti gammadaan nu fudhatte.

¹⁸ Boruyyaa Phawuloos nu woliin gara Yaaqoobii ilaaliisaaf dhage; jaarsoleen wolde'a kiristaanaa duudiille achi jirtiyyu.

¹⁹ Phawuloos nageya isaan fuudheen duuba, waan Waaqi worra Yihudoota hin te'in oddu'utti karaa isaatiin godhe duudii, tokko tokkoon tarre'etti galchee itti hime.

²⁰ Yennaa waan kana dhage'ane, isaan martinuu Waaqa leellifatane. Achiin duuba Phawuloosiin, «Ilaa obboleessa! Yihudooti kuma heddu'utti laakkowamanu akka dhugeeffatanee fi isaan duudiin seera Waaqaatiif hinnaattolee akka te'ane hin dhaggita.

²¹ Yihudooti biyya worra Yihudootaa hin te'in keessa le'anuu duudiin, ijoollee ifii haqanqabaa akka hin qanne yookiin aadaa akka hin muummessine barsiisiisaan Seera Muuse'ee akka diiganu godhuun keeti isaanitti himameera.

²² Isaan akka ati dhutte hin dhage'an; yoonaa maan godhuu woyya ree?

²³ Amma waan nuuti sitti hinnu godhi! Nu keessa namooti afur ka woreega qabanu jiran.

²⁴ Isaan fuudhii dhaqiitii, isaan woliin aadaa dhugeeffanna'aatiin ifi qulleessi; mataa ifille akka haadatanu, gatii isaan ittiin ifi qulleessanu kaffaliif. Akka kanaan wonni si irratti odeeffame duudiin dhara akka teetee fi atille nama Seera Muuse'eetiif ajajamu akka teete hin beekan.

²⁵ Worra Yihudoota hin te'in keessaa worri dhugeeffate ammoo, sagalee waaqota dharaatiif dhikaatiisaan battootte, dhiigaa fi horii hudhamee du'e

akka hin nyaanne, gaarayyeeffatiisa irralle'ee akka ifi eegattanu, ka jedhu xalayaa murtee teennaa barreessinee isaaniif ergineerra» jedhane.

²⁶ Maarre Phawuloos boruuyyaa ganama namoota san fuudhee, isaan woliin aadaa dhugeeffanna'aatiin ifi qulqulleesse; achiin duuba guyyaan qulqulloomiisa isaanii yoom akka muummeffamuu fi tokko tokkoo isaaniitiifuu, ciincaan guyyaa kamitti akka dhikaatu beessisiisaaf gara Galma Waaqaa seene.

Phawuloos Qabame

²⁷ Guyyaan torba muummowuu geennaan, Yihudooti gariin ka lafa Asiya'aatii dhufane, Phawuloos Galma Waaqaa keessatti yennaa dhaggane, gumii duudii itti kakkaasane, isa qabane,

²⁸ «Kolbaa Israa'elii, nu qarqaara'a! Nama keenna, Seera Muuse'eetii fi Galma kana irratti waan badduu dubbataa, addee mara dhaqaa nama duudii ka barsiisaaru nama kana. Ammumaayyuu worra Yihudoota hin te'in, gara Galma Waaqaa fidee, addee woyyittii tana batteesseera» jedhaa iyyane.

²⁹ Isaan tanaan gara Xirofimoosii nama biyya Efesoonii isa woliin qachaa keessatti waan dhagganeef, Phawuloos gara Galma Waaqaa waan isa fidee seeneen seyanee, tana jedhane.

³⁰ Qachaan sun guutumatti raafame; kolbaalle rukkisaa dhuttee, Phawuloos qaddee Galma Waaqaa keessaa harkittee baatte; balbalti Galma Waaqaalle yoosuma cufante.

³¹ Namooti isa ijjeesiisaaf adoo wodhaananuu, «Qachaan Yerusaleemii guutumatti raafameera» oduun jettu, ajajaa woraana Rooma'aa dhaqqadde.

³² Tanaaf inni loltootaa fi qondaaltotaa fudhatee, rukkisaa gara kolba'aa dhage; kolbaalle yennaa isaa fi loltoota isaa dhaggite, Phawuloos dikuu lakkitte.

³³ Ajajaan kumaa Phawuloositti dhikaatee, isa qabee wodaroo sibiilaa lamaan akka hidhamu ajaje. Achiin duuba inni, «Namichi kun eennu? Inni maan balleesse?» jedhee gaafate.

³⁴ Gumii san keessaa worri gariin waan tokko, kuun waan dhibii jedhane. Ajajaan kumaa hogaa kolba'aatiifuu, waan sirrii te'e beekiisa waan hin dandeenneef, akka loltooti gara addee quttuma loltootaa isa geessituuf ajaje.

³⁵ Phawuloos yaabbannoo bira yennaa geye, kolbaan marti isatti aartee, balaa itti buusiisa waan barbaaddeef, loltooti isa ba'atee deente.

³⁶ Kolbaan isaan gula deentu duudiin, «Ijjeefamuu ti!» jedhaa iyyite.

Phawuloos Falmate

³⁷ Loltooti gara addee quttii loltoota ifiititti, Phawuloos seensisiisaaf yennaa dhikaatane, inni ajajaa woraana Rooma'aatiin, «Wo dubbadhuu?» jedhe. Ajajaalle, «Afaan Giriikii beettaa?

³⁸ Ati Gibxicha tanaan gara nageya booressee, namoota kuma afur ka lubbuu namaa ijjeesane fuudhee, gara goomole'ee geessee motii?» jedheen.

³⁹ Phawuloos deebisee, «Ani Yihudicha, qachaa Xarseesii beekkantuu biyya Qiliiqiya'aa keessatti dhaladhe; maganne'ee kolba'atti dubbadhuu?» jedheen.

⁴⁰ Yennaa ajajaan woraana Rooma'aa eeyyameef, Phawuloos yaabbannoo irra dhaabbatee, akka kolbaan cadhittu harkaan beessise; yennaa kolbaan cadhitte, afaan worra Yihudootaatiin isaanitti dubbatuu jalqabe.

22

Falmata Phawuloosii

¹ «Obboleeyyanii fi abbootii tiyya! Amma falmata ani isinitti dhikeeffadhu kana naaf dhage'a'a!» jedhe.

² Inni afaan Yihudootaatiin dubbatuun yennaa dhage'ane, irra caalaa cadhisane.

Achiin duuba Phawuloos:

³ «Ani Yihudi'i; qachaa Xarseesii biyya Qiliiqiyaa keessaatitti dhaladhee, qachaa Yerusaalemiititti guddadhe. Ka na barsiiselle Gamaali'el; ani Seera abbootii teennaa akka maltetti ka baradhee fi akkuma isin adhaa gootanu, anille Waaqaaf hinaafeeraayyu.

⁴ Ani namoota dhugeeffannaa kiristaanaa hordofanu haga du'aatitti miidhaa irra geessiseera; dhiiraa fi dubartii qabee, mana hidha'aatitti galcheera.

⁵ Tun dhugaa akka teete hayyicha gudda'aa fi korri mura'aa duudiin dhugaa naaf hin bayan. Ani xalayaa eeyyamaa ka gara bulchitoota Yihudoota Damaasqoo jiranutti barreeffame isaanuma irraa fudhadhee, jara achi jirtu qabee adabiisaaf, Damaasqoo dhage.

⁶ «Karaa gubbaa adoo jiruu Damaasqo'otti yennaa dhikaadhe, gara saatii jaatitti dedhuma ifi guddaan gubbaa irraa adaala kiyyatti balaqqise.

⁷ Ani lafatti jigee qoonqoo, «Saa'ol, Saa'ol! Maaf na miita?» jettu dhage'e.

⁸ Anille, «Ennu ati Gootta'a?» jedhee gaafadhe. Inni deebisee, «Ani Yesuusii Naaziretii, ka ati miitu» jedhe.

⁹ Namooti na woliin jiranu ifa dhaggane; ammoo qoonqoo natti dubbattu san hin dhageenne.

¹⁰ Ani, «Maan godhu Gootta'a?» jedhee gaafadhe. Goottaalle, «Ka'iitii, gara Damaasqo'oo deem; akka ati gootuuf waan Waaqi murteesse mara, achitti sitti himama» anaan jedhe.

¹¹ Balaqqeettii ifaa irraa ka ka'e, ilti tiyya dhaggaa waan dadhaddeef, worri na woliin jiru harka na qabee, gara qachaa Damaasqo'oo na geesse.

¹² «Qachaa san keessa namichi Anaaniyaas jedhamu tokko, ka Seera Muuse'ee eegatuu fi Yihudoota Damaasqoo jiranu duudii biralle'etti, ka ulfeeffame tokko jiraayyu.

¹³ Inni gara kiyya dhufee, na bira dhaabbatee, «Obboleessa kiyya Saa'ol, ilti teeti deebitee sii dhaggitu!» jedhe. Yoosuma ilti tiyya banantee, isa dhagge.

¹⁴ Achiin duuba inni, «Waaqi abbootii teennaa, akka ati fedha isaa beettu, tajaajilaa isaa balchaa akka dhaggituu fi afaanuma isaatiin dubbatuun akka dhageettu, si filateera.

¹⁵ Ati waan dhageettee fi dhaggite, nama duudi'iif dhugaa akka baatuuf, inni tana godhe.

¹⁶ Amma maan eedda ree? Ol ka'iitii, maqaa isaa waamaa cuuphamiitii, cubbuu teeti dhiqadhu» anaan jedhe.

Phawuloos Gara Worra Yihudoota Hin te'inii Ergame

¹⁷ «Ani gara Yerusaalemii deebi'ee, Galma Waaqaa keessatti adoo daadi-matiisatti jiruu, mudhii dhagge.

¹⁸ Mudhii san keessatti Goottaa dhagge. Inni anaan, «Kolbaan asii dhugaa ati naaf baatu waan hin fudhanneef, dafiitii ariifadhuu Yerusaalem keessaa bayi» jedhe.

¹⁹ Ani deebisee, «Gootta'a, akka ani Mana Waaqonfannaa Yihudootaa duudii dhagee, worra si'itti dhugeeffate qabee tume, isaanuu hin beekan.

²⁰ Yennaa Isxifanosiin dhugaa bayaan keeti ijjeefame, aninuu achi dhaab-badhee, ijjeefamuu isaatitti wolii galee, woyaa worra isa ijjeesuu eegiisatti jiraayyu» jedhe.

²¹ Gootaan anaan, «Ani fagoo gara worra Yihudoota hin te'inii waan si ergeef beenu» anaan jedhe» jedhee isaanitti hime.

²² Gumiin haga Phawuloos tana dubbatu isa dhageette; duuba irra ammoo, qoonqoo ol qabatee, «Nami akkasii lafa irraa baduu ti! Inni jiraatuu hin qabu!» jedhaa iyyite.

²³ Isaan iyyaa, woyaa ifii gatane, aarii guddoo mudhisiisaaf bukuu gara ol-gubba'aa facaasane.

²⁴ Ajajaan woraana Rooma'aa, Phawuloos qabane addee guttii loltoota woraanaa akka geessanuu fi kolbaan maaf akka itti iyyitu, dikamaa akka qoratamuu ajaje.

²⁵ Yennaa isaan isa dikiisaaf teephaan hidhane ammoo, Phawuloos ajajaa dhibbaa ka achi dhaabbateen, «Nama Rooma'aa tokko, mura malee dikiisi keessan seeraa?» jedhe.

²⁶ Ajajaan dhibbaa yennaa waan kana dhage'e, gara ajajaa woraana Rooma'aa deemee, «Maan godhiisatti jirta? Namichi kun nama Rooma'aa ti!» jedheen.

²⁷ Maarre ajajaan woraana Rooma'aa, gara Phawuloosii dhagee, «Anatti himi, ati nama Rooma'aatii?» jedheen.

Phawuloos deebisee, «Ee» jedheen.

²⁸ Ajajaan woraana Rooma'aa deebisee, «Ani nama Rooma'aa te'iisaaf, beese hedduu kaffaleera» jedhe.

Phawuloosille, «Ani nama Rooma'aa te'ee dhaladhe» jedhe.

²⁹ Tanaaf worri Phawuloos qorqoriisaaf qophowe sun, isa irraa deebi'e; ajajaan woraana Rooma'aalle, Phawuloos nama Rooma'aa akka te'ee fi wodaroo sibiilaatiin akka hiisiseeru yennaa hubate sodaate.

Phawuloos Kora Mura'aa Duratti Dhikaate

³⁰ Boruyya'aa, ajajaan woraana Rooma'aa, worri Yihudootaa maaf Phawuloos akka himate, sababa dhuga'aa beekiisaaf barbaade; tanaaf sooreyyiin hayyootaatiin fi miseensoti kora mura'aa duudiin akka wolitti qabamanu ajaje. Achiin duuba inni Phawuloos hiikee, isaan dura dhaabbachiise.

23

¹ Phawuloos kora mura'aa hubatee ilaalee isaaniin, «Obboleeyyan tiyya! Ani haga guyyaa adhaatitti, wodanaa qullu'uun fuula Waaqaa duratti jiraad-heera» jedhe.

² Anaaniyaan Hayyichi Guddaan, worri Phawuloos bira dhaabbateeru, akka afaan keessa isa dhowu ajaje.

³ Yennaa san Phawuloos Anaaniya'aan, «Ati dhaaba manaa* ka nooraa dibame fakkaatta! Waaqi si'i hin dhowa! Akka seeraatitti natti muriisaaf achi teetteerta, ifiif ammoo seera malee, akka na dhowanuuf ajajjaa?» jedheen.

⁴ Worri Phawuloos bira dhaabbateeru, «Ati Hayyicha Guddaa Waaqaa arrassitaa?» jedhaneen.

⁵ Phawuloos deebisee, «Obboleeyyan tiyya, akka inni Hayyicha Guddaa te'e ani hin beenne. Barreeffam Woyyichi, «Bulchaa kolbaa teetii irratti hantuu hin dubbatin» jedha» jedhe.

⁶ Phawuloos worra san keessaa gariin Saduqoota, ka dhibiin Fariisaayota akka te'ane yennaa beeke, kora mura'aa keessatti qoonqoo ol qabatee, «Obboleeyyan tiyya! Ani Fariisaayii ilma Fariisaayichaa ti. Worri du'ane hin ka'an jedhee waan addadheef, ani amma mura'a duratti dhikaadheera» jedhee dubbate.

⁷ Akkuma inni waan kana jedheen, Fariisaayotaa fi Saduqoota oddu'utti lolli ka'ee, korri mura'aa addee lamatti goodame.

⁸ Saduqooti, «Du'aa ka'iis hin jiru, ergantooti Waaqaa yookiin ayyaanoti hin jiranu» jedhan; Fariisaayoti ammoo, «Kun duudiin hin jiran» jedhane dhugeeffatan.

⁹ Achiin duuba hogaan guddaan ka'e; barsiisoti Seeraa ka golii Fariisaayotaa te'ane gariin ka'anee, «Nuuti yakkaa womaa nama kana irratti hin dhaggine! Takki ayyaanatti yookiin ergamaa Waaqaatitti itti dubbateera!» jedhaa moromane.

¹⁰ Ajajaan woraana Rooma'aa moromaan waan o'iteef, jarri tun Phawuloos hin caccasan jedhee sodaate. Tanaaf loltooti dhaqanee, Phawuloos odduu isaaniitii baasane, addee quttii loltootaa akka geessanu ajaje.

¹¹ Halkanuma san Waaqi Phawuloos bira dhaabbatee, «Hin sodaatin! Ati Yerusaalemitti akkuma dhugaa naaf baate, akkasuma qachaa Rooma'aalle'etti dhugaa naaf bawuu qadda» jedhe.

Phawuloos Ijjeesiisaaf Mala Dhowane

¹² Yennaa latti bariite Yihudooti gariin wolitti qabamanee, «Haga Phawuloos ijjeennutti hin nyaannu, hin unnu» jedhane kakatane.

¹³ Worri kakuu tana kakatane namoota afurtama caalan.

¹⁴ Achiin duuba isaan gara sooreyyii hayyootaati fi jaarsole'ee dhaqanee, «Nuuti haga Phawuloos ijjeennutti, hin nyaannu, hin unnu jennee jabeessinee kakanneerra.

¹⁵ Tanaaf akka waan kora mura'aa woliin wolii galtanee, marroo Phawuloosii caalchittanee qorqortanuu fakkeessa'aatii, akka Phawuloos gadi isinii fidanu, ajajaa woraana Rooma'aa gaafadha'a. Nuuti ammoo adoo inni as hin geyin, isa ijjeesiisaaf qophoonneerra» jedhaneen.

¹⁶ Ilmi obboleettii Phawuloosii ammoo, mala kana waan dhage'eef, gara addee quttii loltootaa dhagee, Phawuloositti hime.

¹⁷ Achiin duuba Phawuloos ajajjoota dhibbaa keessaa tokko waamee, «Dargaggeessi kun ajajaa woraana Rooma'aatitti waan himu waan qabuuf, gara isaa geessi» jedheen.

¹⁸ Ajajaan dhibbaa isa fuudhee, gara ajajaa woraana Rooma'aa geessee, «Phawuloosiin hidhameeru na waamee, dargaggeessi kun waan sitti himu waan qabuuf, gara keeti akka fiduuf na gaafate» jedhe.

¹⁹ Ajajaan woraana Rooma'aa, dargaggeessa harka qabee, qofitti baasee, «Wonni ati natti himiisaaf barbaaddu maan?» jedhee isa gaafate.

²⁰ Dargaggeessille, «Yihudooti akka waan marroo Phawuloosii caalchisane qorqoranuu fakkaatane, akka ati boru gara kora mura'aa isa isaaniif dhikeessitu, si gaafatiisaaf wolii galaneeran.

²¹ Ati ammoo waan isaan jedhanu hin dhage'in. Namooti afurtama caalanu, haga isa ijjeennutti hin nyaannu, hin unnu jedhane kakatane, riphane isa eegiisatti jiran. Isaan amma murtee teeti qofa eegataaran» jedhe.

²² Ajajaan woraana Rooma'aa, «Waan natti hinte kana nama tokkolle'etti hin himin» jedhee itti seeree, dargaggeessa gad lakkise.

²³ Achiin duuba ajajaan woraana Rooma'aa, ajajjoota dhibbaa ta ifii keessaa lama waamee, «Halkan keessa saatii saditti loltoota dhibba lama, abbootii fardo'oo nama torbaatamaa fi worra ebo'oo nama dhibba lama waliin gara Qiisaariya'aa dhaqiisaaf akka qophowanu godha'a.

²⁴ Phawuloos adoo hin edderamin irra tee'ee gara bulchaa Feeliksii akka dhaqu, geejjiba qopheessa'aaf» jedhe.

²⁵ Achiin duuba xalayaa,

²⁶ «Ana Kilaawudiiyosii Liisiyaasii irraa, bulchaa kabajamaa Feeliksiif! Nageenni si'iif te'u.

²⁷ Yihudooti namicha kana qabane, silaa ijjeesaaraniiyyu. Ani ammoo akka inni nama Rooma'aa te'e beekke, loltoota tiyya waliin dhaqee isa hambure.

²⁸ Isaan maaf akka isa himataaranu beekiisaaf barbaadee, gara kora mura'aa ka isaanii isa geesse.

²⁹ Himatam isaa marroo seera isaaniituma malee, yakkaa du'aan yookiin hidha'aan isa geettu, akka inni hin qanne qorgoree hubadheera.

³⁰ Yihudooti namicha kana ijjeesiisaaf mala akka dhowane, yennaa natti himame, yoosuma gara keeti erge. Worri isa himatulle, himata isa irraa qabu akka si duratti dhikeeffatu itti himeera» jedhu barreesseef.

³¹ Loltooti akkuma ajajamanetti, halkanuma gaafasii Phawuloos fuudhane Antiiphaaxriisitti geessane.

³² Boruyyaa loltooti worri miilaa gara addee quttii loltootaa deebi'e; worri fardo'oo Phawuloos waliin deeme.

³³ Worri fardo'oo Qiisaariyaa yennaa geyane, xalayaa bulchaa biyyaatitti dhikeessanee, Phawuloosille isatti dabarsanee kennane.

³⁴ Bulchaan biyyaa sun xalayaa dubbisee, Phawuloos nama biyya kamii akka te'e gaafate. Inni nama biyya Qiliqiya'aa akka te'e yennaa beeke,

³⁵ «Worri si himate yennaa as geye ani dubbii teeti hin ilaala» jedhe. Achiin duuba akka Phawuloos mana mootummaa Heroodisii keessatti eegamu ajaje.

24

Yihudooti Phawuloos Himatane

¹ Guyyaa shaniin duuba Anaaniyaasiin Hayyichi Guddaan, jaarsolee gari'ii fi beekaa seeraa ka Xerxilos jedhamu tokko waliin, gara Qiisaariya'aa gad bu'e. Isaan Feeliksii bulchaa biyyaa dura dhikaatanee, himannaa Phawuloos irratti qabanu dhikeeffatane.

² Phawuloos waamamee yennaa dhufe, Xerxilos himata ifii jalqabee, «Kabajamaa Feeliksi! Nuuti karaa keetiin nageya guddaa dhaggameerra; bulchiinsa dansaa keetille'een, jijjiiram kolbaa teennaaf dhaggameera.

³ Nuuti waan kana yennaa mara, addee maratti galata gudda'aan fudhanna.

⁴ Ani tana caalaa si dadhassiisuu* hin barbaadu; teetuu malee himata gabaabaa nuuti qannu, gadhi-laafinnaan akka nuuf dhageettu si kadhada.

⁵ Namichi kun dhukkuba hamaa nutti te'eera; inni Yihudoota biyya lafaa duudii oddu'utti nageya boressaa, golii worra Naaziretiitiif soressaa te'eera.

⁶ Inni Galma Waaqaatuu xureessiisaaf wodhaanuun qanneerra; [akka seera keennaatitti isatti muriisaaf yaadanneerra.

⁷ Liisiyaasiin ajajaan woraana Rooma'aa dhufee, hunnaan harka keennaa isa fuudhee,

* **24:4** Dadhassiisuu: Ko'oonsuu

⁸ achiin duuba worri isa himatu gara keeti akka dhufanu ajaje.] Ati namicha kana yoo qorte, atinuu wonni nuuti himannu duudiin dhugaa akka teete hin mirkaneeffatta» jedhe.

⁹ Yihudooti, «Wonni kun duudiin dhuga'a» jedhanee himata dhikaate irratti wolii galane.

Phawuloos Feeliksi Duratti Falmate

¹⁰ Bulchaan biyyaa akka Phawuloos dubbatu harkaan beessise. Phawuloosille,

«Akka ati woggaa heddu'uuf bulchaa kolbaa tanaa teete waan beekuuf, himata na irratti dhikaateef, si duratti falmatuu kiyya gammadeera.

¹¹ Ani waaqonfatiisaaf gara Yersaaleemii haga ol bayee, guyyaa kudhanii lama akka hin caalin, atinuu mirkaneeffatuu dandeetta.

¹² Galma Waaqaa keessatti, Mana Waaqonfannaa Yihudootaa keessalle'etti yookiin qachaa keessatti eennuuyyuu waliin moromuun yookiin kolbaa raasuun na dhagganee hin beekanu.

¹³ Waan amma ittiin na himatanu kanaaf, tokkolle dhugaa sitti dhikeeffatuu hin dande'anu.

¹⁴ Ammoo waan tokko sitti himadha; ani karaa isaan, «Dhara» jedhanu san hordofiisaan, Waaqa abbootii teenaa waaqonfadha. Te'uu malee waan Seera Muuse'eetii fi kitaaba raagotaa keessatti barreeffame duudii hin dhugeeffadha.

¹⁵ Worri balcha'aa fi balchaa hin te'inille du'aa akka ka'anuu, akkuma isaan addatanu, anille Waaqatti addii qaba.

¹⁶ Ani Waaqaa fi nama duratti wodanaa dansaa akka qabaadhu yennaa maraa mixiixxadha.

¹⁷ «Ani Yersaaleem keessaa bayee, woggaa heddu'uun duuba, beese qarqaarsa kolbaa tiyyaaf geessiisaa fi woreega Waaqaaf kenniisaaf gara Yersaaleemii dhage.

¹⁸ Jila aadaa dhugeeffanna'aatiin qulqulloomiisaa muummessee, woreega kiyya dhikeessiisatti jiruun ana Galma Waaqaa keessatti dhaggane. Nami hedduun na waliin achi hin jiru; hogaalle hin kaane.

¹⁹ Yihudooti gariin ka Asiya'aa dhufane ammoo, achi jiraniyyu; isaan waan si irratti na himatanu adoo qabaatanee, amma si dura dhikaatanee na himatanuu ti;

²⁰ yookiin yennaa ani kora mura'aa dura dhaabbadhe, waan ani yakke worri as jiru himuu ti.

²¹ Ani odduu isaanii dhaabbadhee, qoonqoo tiyya ol qabadhee, «Ka du'ane hin ka'an» waan jedheef, adha mura'aaf isin duratti dhikaadhe malee, wonni dhibiin ani huje hin jirtu» jedhe.

²² Feeliksi ammoo karaa Goota'aa akka dansaa waan beekeeruuf, «Ajajaan woraana Rooma'aa Liisiiyaas yennaa dhufe, dubbii teessan isiniif hin mura» jedhee isaan ifi irraa geegesse.

²³ Achiin duuba inni, ajajaa dhibbaa ka Phawuloos eeguun, «Itti furiitii Phawuloos eegi; worri isaalle waan isaaf barbaachisu fidee yennaa dhufu, irraa hin dhoogin» jedhe.

Phawuloos Feeliksii Fi Dirusilaa Duratti Dhikaate

²⁴ Guyyaa diqqa'aan duuba, Feeliksi haadha manaa ifi Yihudittii Dirusilaa waliin dhufe. Inni Phawuloos waansisee, marroo Yesuus Kiristoositti dhugeeffatiisaa dubbatuun caqase.

²⁵ Phawuloos marroo balchumma'aa, marroo ifi toowatiisaatii fi marroo muraa dhufu'uu jirtuu yennaa dubbate, Feeliksi sodaatee, «Ammaaf hin geetti; yoo natti tolte aninuu si waama» jedhe.

²⁶ Feeliksi Phawuloos irraa gubboo[†] fudhatiisa waan barbaadeef, yennaa hedduu isa waansisaa haasesse.

²⁷ Woggaan lamaan duuba, Phorkii'os Fesxoos addee Feeliksii bulchaa te'e. Feeliksi Yihudoota gammachiisuu barbaadee, Phawuloos akkuma hidhametti lakkise.

25

Phawuloos Fesxoos Dura Dhikaate

¹ Fesxoos bulchaa te'ee guyyaa sadiin duuba, Qiisaariya'aa ka'ee gara Yersaaleemii dhage.

² Achitti sooreyyiin hayyootaatii fi sooreyyiin Yihudootaa, Phawuloos himatane.

³ Isaan kara'atti riphane Phawuloos akka ijjeesanu waan malataneef, isa Yersaaleemitti nuuf ergi jedhane, Fesxoos gaafatane.

⁴ Fesxoos deebisee, «Phawuloos Qiisaariya'atti hidhamee eegamiisatti jira; anille dafee achi deebi'aara.

⁵ Sooreessitooti teessan na woliin gara Qiisaariya'aa dhaqanee, wonni Phawuloos yakkeeru yoo jiraatte, achitti isa himatanuu ti» jedhe.

⁶ Fesxoos guyyaa saddeeti yookiin guyyaa kudhan isaan bira bubbuleen duuba, gara Qiisaariya'aa deeme; boruyyaa barcumaa mura'aa irra tee'ee, akka Phawuloos dhikeessanu ajaje.

⁷ Phawuloos yennaa dhikaate, Yihudooti Yersaaleemii dhufane isa marsa-nee, himata jajjabaa ka dhugaa hin qanne itti dhikeessane.

⁸ Phawuloos ammoo, «Ani Seera Yihudootaa irratti yookiin Galma Waaqaa irratti yookiin Mootii Mootota Rooma'aa irratti yakkaa tokkole hujee hin jiru» jedhee falmate.

⁹ Fesxoos Yihudoota gammachiisiisaaf barbaadee, Phawuloosiin, «Gara Yersaaleemii dhaxxee, dubbii tanaaf akka ani muraa siif kennu hin feetaa?» jedhee gaafate.

¹⁰ Phawuloos deebisee, «Ammumaayyuu ani addee muraa itti fudhadhu, barcumaa mura'aa ka Mootii Mootota Rooma'aa dura dhaabbadheera. Akkuma ati miidhassitee beettu, ani Yihudoota irratti yakkaa tokkole hin hunye.

¹¹ Ani yakkee waan du'a natti mursiittu yoo godhee jiraadhe, du'a jalaa bayiisaaf hin gaafadhu. Ammoo himati isaanii yoo dhugaa hin te'in, eenulle isaanitti dabarsee na kennuu hin dande'u. Ani amma Mootii Mootota Rooma'aatitti iyyadha» jedhe.

¹² Fesxoos worra isa gorsu woliin mari'atee, «Maarre mootichatti iyyadha eega jette, gara mootichaa hin dhaxxa» jedhee itti hime.

Phawuloos Agriipha'aa Fi Berniiqee Duratti Dhikaate

¹³ Guyyoota diqqa'aan duuba mootichi Agriipha'aa* fi Berniiqeen, Fesxoos dubbisiisaaf gara Qiisaariya'aa dhufane.

¹⁴ Isaan guyyaa hedduu achi turaneen duuba, Fesxoos waan dubbii Phawuloosii mooticha Agriipha'atti issee himee, «Nami Feeliksi hidhee lakkisee deeme tokko as jira;

[†] 24:26 Gubboo: Safuu * 25:13 Agriiphaa: Agriiphaan kun Agriiphaa lammeesso'oo ti; inni ilma Agriiphaa matoomaa, ka foora 12 keessatti dubbinnu. Inni biyyoota laga Yordaanosiitiin gara aduun baatu jiranu bulcheera. Inni akka laakkossa Awuropha'aatitti, dhaloota Kiristoosiitiin duuba bara 50-94 bulche.

¹⁵ ani yennaa gara Yerusaalemii dhage, sooreyyiin hayyootaatii fi jaar-soleen Yihudootaa isa himatane, akka ani yakkaa isatti muru na gaafatane.

¹⁶ Ani ammoo, «Nami himatame tokko worra isa himatu dura dhaabbatee, deebii falmataa adoo hin kennin dabarsanee kenniis, aadaa worra Rooma'aatii moti» jedhee isaanitti hime.

¹⁷ Worri isa himate wolitti qabamee yennaa as dhufe, ani adoo hin turin, boruuyaa barcumaa kora mura'aa irra tee'ee, akka Phawuloos na duratti dhikeessanu ajaje.

¹⁸ Worri isa himatu isa himatiisaaf yennaa bira dhaabbatane, inni waan hantuu hujeera jedhee akka ani yaadetti, isaan waan himataan isa gewu tokkolle hin dhikeessine.

¹⁹ Moromaan isaan isa woliin qabanu marroo dhugeeffannaa ifitii fi marroo Yesuusii du'eeru, ka Phawuloos ammoo, «Jiraata'a» jedhuu ti.

²⁰ Ani dubbii tana akka itti qorqoru wollaalee, Phawuloosiin, «Gara Yerusaalemii dhaxxee, achitti dubbii tanaaf mura dhaggatuu feetaa» jedhee isa gaafadhe.

²¹ Phawuloos ammoo, dubbii tana Mootii Mootota Rooma'aatitti iyyadha waan jedheef, ani haga achii isa ergutti, mana hidha'aa keessa akka inni turu ajaje» jedhe.

²² Agriiphaan Fesxoosiin, «Aninuu dubbii namicha kanaa dhage'uu barbaada» jedheen. Fesxoos, «Boru isa dhageetta» jedhe.

²³ Boruuyaa Agriiphaa fi Berniiqeen, uffana mootummaa ifii uffatane, ulfinna gudda'an dhufanee, soressitoota loltootaatii fi jaarsolee qacha'aa woliin, mana mura itti kennanu ol seenane. Ajaja Fesxoosiitiin, Phawuloos ol seensisane.

²⁴ Fesxoos, «Mootii Agriipha'a! Isinille worra nu woliin as jirtanu duudiin keessan! Namichi isin dhaggitanu kun, jiraatu'uuf hin malle jedhane, kolbaan Yihudootaa duudiin Yerusaalemii fi asille'etti natti iyyataneeran.

²⁵ Ani ammoo yakkaa du'aan isa geessittu tokkolle hin dhaggine. Ammoo waan inni Mootii Moototaa, ka Rooma'aatitti iyyadha jedheef, achi isa ergiisaaf murteeffadheera.

²⁶ Te'uu malee gootaa kiyyaaf barreessiisaaf, waan namicha kanaa waan mirkanaaye hin qabu. Tanaaf isin duudii duraa fi keessattuu si'i mooticha Agriiphaa duratti, isa qorqoreen duuba marroo isaa waan barreessu akka qabaadhu, isa asi fideera.

²⁷ Namaa hidhame tokko, waan inni itti himatame adoo hin qulleessin, Mootii Mootota Rooma'aatitti ergiisii, sirrii natti hin fakkaattu» jedhe.

26

Phawuloos Agriiphaa Duratti Falmate

¹ Agriiphaan Phawuloosiin, «Ifii keetiif falmatuu hin dandeetta» jennaan, Phawuloos harka ifii diriirsee falmatee,

² «Mooticha Agriipha'a! Waan Yihudooti na himatane duudii akka falmadhu adha si duratti dhikaatuu kiyyaan guddoo gammada.

³ Keessumattuu aada'aa fi moromaa Yihudootaa duudii miidhassitee beetta. Tanaaf ossataan akka naaf dhageettu si kadhada.

⁴ «Ijoollummaa tiyyaan jalqabee, biyya tiyya keessaa fi Yerusaalemille'etti attam akka le'e Yihudooti duudiin hin beekan.

⁵ Isaan yoo naaf dhugaa bayuu fedhane, worra golii Fariisaayotaa ka dhugeeffannaa teenna jabeffatanu keessaa, ani tokko akka te'e duruuyyuu beekan.

⁶ Amma ammoo, waadaa Waaqi abbootii teennaaf gale, waan addadheef ani asitti himatamiisatti jira.

⁷ Waadaan sun, ta gosi teenna kudhanii fi lama akka dhaggattuuf addattee, halkanii fi guyyaa Waaqaaf tajaajilte. Mooticha Agriipha'a! Sababa addii tanaatiif, Yihudooti amma na himatiisatti jiran.

⁸ Waaqi worra du'e akka kaasuu, maaf mantan?

⁹ «Aninuu karaa dande'e maraan, maqaa Yesuusii Naaziretii kanaan mor-muu qaba jedhee, yaadadheeraayyu.

¹⁰ Ani waanuma kana Yerusaalem keessatti godhe. Ajaja sooreyyii hayyootaa irraa fudhadheen, kolbaa Waaqaa hedduu mana hidha'aatitti galcheera; yennaa isaan ijjeesanulle, worra ijjeesu waliin wolii galeera.

¹¹ Yennaa hedduu Mana Waaqonfannaa Yihudootaa keessatti isaan adabee, akka isaan dhugeeffannaa ifii mormatanu godhiisaaf wodhaaneera. Isaan irralle'etti aaree, qachaa ormaa keessalle'etti isaan miidheera.

Akka Phawuloos Gara Kiristoosii Deebi'e
(HuE. 9:1-19; 22:6-16)

¹² «Adoo tana irra jiruu baalli'ii fi ajaja sooreyyii hayyootaa irraa fudhadhee, gara Damaasqo'oo dhage.

¹³ Mooticha! Orraa gara saatii jaatitti ani karaa gubbaa adoo jiruu, ifi aduu caalaa balaqqisu gubba'aan gadi dhufuun dhagge; ifi sunille adaala kiyyaa fi namoota na waliin deemiisatti jiranuutitti ife.

¹⁴ Nuuti duudiin lafatti jinneerruun, afaan worra Yihudootaatiin qoonqoo, «Saa'ol! Saa'ol! Ati maaf na miita? Sibiila mutaa yoo dhiitte ifuu miita» jettu dhage'e.

¹⁵ Anille, «Gootta'a, ati eennu?» jedhee gaafadhe. Gootaan deebisee, «Ani Yesuusii ati miidhiisatti jirtu.

¹⁶ Ammoo ka'iitii miila keetiin dhaabbadhu. Akka ati tajaajilaa kiyya teetu si filatiisaaf, waan kiyya ka adha dhaggitee fi ka ani sitti mudhisu'uu jiru, akka dhugaa baatu ani sitti mudhadhe.

¹⁷ Worra ani itti si ergaaru kolbaa Israa'eliitii fi worra Yihudoota hin te'in irraa si fayyisa.

¹⁸ Ati ila isaanii bantee, dukkana irraa gara ifaa, hunna Seexanaa jalaa gara Waaqaa isaan hin deebitta; isaanille natti dhugeeffatiisaan, cubbuu ifitiif araara dhaggatane, kolbaa Waaqaaf woyyoonte oddu'utti dhaala fudhatan» jedhe.

Phawuloos Hujii Ifii Hime

¹⁹ «Maarre mooticha Agriipha'a, ani mudhii ol-gubba'aatiif ajajamuu hin didanne.

²⁰ Jalqaba worra Damaasqoo keessa jiruuf, itti aansee worra Yerusaalemii fi Yihudaa keessa jiru duudi'iif, achiin duuba worri Yihudoota hin te'inille cubbuu irraa deebi'anee, gara Waaqaa akka deebi'anu, cubbuu irraa deebi'uu isaaniille waan mudhisu akka hujanu, isaanitti lallabeera.

²¹ Yihudooti tanaaf Galma Waaqaa keessatti na qabane, ijjeesiisaaf wodhaanane.

²² Haga guyyaa adhaatitti Waaqi na qarqaaree, anille as dhaabbadhee, diqqa'aa fi guddaa duudi'iif dhugaa bayiisatti jira. Ani waanuma raagotii fi Muuseen hin te'a jedhane malee, waan tokkolle hin dubbanne.

²³ Isaan, «Masiihiin rakkatuu qaba; du'aa ka'iisaan ka jalqabaa te'ee, ifa fayyinnaa kolbaa Israa'eliitii fi worra Yihudoota hin te'iniif hin mudhisa» jedhane, jedhee dhugaa isaaniif baye» jedhe.

²⁴ Phawuloos akkana falmatiisatti jiruun, Fesxoos goonqoo ol qabatee, «Phawuloos! Guddoo baratiisi keeti si maraachaara!» jedhe.

²⁵ Phawuloos deebisee, «Kabajamaa Fesxoos! Ani maraata'aa moti! Dubbii dhuga'aa qalbi'iin dubbatiisatti jira.

²⁶ Mooticha Agriipha'a! Ati waan kana duudii marroo beettuuf, sodaa malee sitti dubbatiisa dande'a. Wonni kun cina'atti dhokattee waan hin te'iniif, waan duudii akka mootichi hubatu hin addadha.

²⁷ Mooticha Agriipha'a! Ati raagotatti hin dhugeeffattaa motii? Akka ati dhugeeffattu aninuu hin beeka» jedhe.

²⁸ Agriiphaan deebisee, Phawuloosiin, «Yennaa gabaadduu tana keessatti kiristaana waan na gootu seetaa?» jedheen.

²⁹ Phawuloos deebisee, «Yennaan gabaabbattulle yookiin dheerattulle, si qofa adoo hin te'in worri adha na dhage'iisatti jiranu duudiin, hidhamiisa kiyya malee, akka kiyya akka ite'anu Waaqa daadimadha» jedhe.

³⁰ Achiin duuba Mootichi, bulchaan biyyaa, Berniiqeen, worri isaan woliin tee'aneeranu duudiille ol ka'anee,

³¹ yennaa achii deemanu, «Namichi kun du'a yookiin hidhaa waan isatti mursiisu tokkolle hujee hin jiru» woliin jedhane.

³² Agriiphaan, Fesxoosiin, «Nami kun «Mootii Mootota Rooma'aatitti iyyadha» adoo jedhuu dhabee jiraate, sila akkanumaan lakkifamaayyu» jedhe.

27

Phawuloos Gara Rooma'aa Geeffame

¹ Akka nuuti hobolo'oon gara Ixaaliya'aa dhandhu yennaa murteessane, Phawuloosii fi worra hidhamane ka dhibii, kutaa woraana worra Rooma'aa «Awugusxoos» ka jedhamu keessa ka jiru, ajajaa dhibbaa Yulii'ositti dabarsanee kennane.

² Hoboloo qachaa Adraamiixosiitii kaatee, gara buufata hobolo'oo, ka irga lafa Asiya'aa dhaqiisaaf qophootte, yaabbannee deenne. Arisxaarkosiin, nami biyya Maqedooniya'aa ka Tasalonge'ee dhufe nu woliin jiraayyu.

³ Boruyyaa qachaa Sidoonii geenne; Yulii'os Phawuloosiif gadhaa laafee, akka inni gara firoota ifi dhaqee, waan barbaachisu dhaggatu isaaf eeyyame.

⁴ Sidoonii kaanee, qilleensi ful-duraan gara keenna waan dhoweef oddoola Qophiroosiititti gollannee hobolo'oon deenne.

⁵ Achiin duuba abbaayaa Qiliqiya'aatii fi Phamfiliya'aa buuneen duuba, qachaa Miira'aa ka biyya Liqiya'aa keessa jiru geenne.

⁶ Achitti ajajaan dhibbaa, hoboloo biyya Iskindiriya'aatii dhuttee, gara biyya Ixaaliya'aa dhaxxu dhaggee, nu yaabbachiise.

⁷ Guyyaa hedduu laana hobolo'oon deennee, rakkoo guddo'oon qachaa Kiniidoosii bira geenne; bubbeelle gara duraa deemiisa yennaa nu dhoog-gite, oddoola Qareexisiititti gollannee, cinaa Salmoonitiin dabarre.

⁸ Nuuti rakkoo guddo'oon cinaa abbaaya'aa irra dabarree, gara addee «Buufata hobolo'oo miidhagaa» jedhamu, ka qachaa Lase'aatitti dhikaatu bira geenne.

⁹ Yaasuma keenna irratti guyyaan hedduun dabaree, yennaan laamaalle waan dabarteef, hobolo'oon deemuun rakkisaa waan te'eef, Phawuloos isaanitti gorsee,

¹⁰ «Jarana! Haganaa achi hoboloo gudditti'in deemiisi keenna kun akka balaa qabu dhagga; fe'iisaa fi hoboloon guddittiin baddee, lubbuun namaalle hin dhumatti» jedhe.

¹¹ Ajajaan dhibbaa ammoo, gorsa Phawuloosii caalaa, waan abbaan hobolo'ootii fi ka hoboloo oofu jedhane dhugeeffate.

¹² Addeen buufata hobolo'oo sun, yennaa gannaa achi turiisaaf ta hin tolle waan teeteef, isaan keessa garri caalaan, achii ka'anee, yoo isaanii dande'ame Finiiqe'etti galanee, ganna achitti bayiisaaf murteeffatane. Finiiqeen addee buufata hobolo'oo, oddoola Qareexisii irraa gara kaaba dhi'aatii fi kibba dhi'aa jirti.

Bubbee Abbaayaa Irraa

¹³ Qilleensi laafaan karaa kibbaatiin bubbisuu yennaa jalqabe, akkuma isaan hedane waan teeteef seyane, hoboloo guddittii hiikanee irga Qareexisiitiin abbaayaa irra deemane.

¹⁴ Ammoo adoo hin turin bubbeen jadduun, «Bubbee kaaba bahaa» jedhantu, oddoola Qareexisii irraa gara abbaaya'aa gad bubbitte.

¹⁵ Bubbeen hoboloo guddittii dhoottee, gara duraa deemiisa waan dadhanneef, itti lakkinnee bubbe'een oofanne.

¹⁶ Oddoola diqqayyicha Kaawudaa jedhamu tokko gollaa godhannee yennaa deenne, rakkoo guddoon hoboloo, hoboloo guddittii teennatti hidhantee harkifantu san, qilleensa irraa buufatiisa dandeenne.

¹⁷ Hoboloo ol harkisane baasaneen duuba, hoboloon guddittiin akka hin diiganneef wodaro'oon xaxanee hidhane. Hoboloon guddittiin lafa maansa Sirtis jedhantutti nu duraa dhowanti jedhane waan sodaataneef, waan laana isii ideensisu gad hiissanee, bubbe'een oofamaa deemane.

¹⁸ Bubbeen nutti jabaataa waan deenteef, boruyyaa fe'iisa hoboloo guddittii keessa jiru, gara abbaaya'aa darbuu jalqabane.

¹⁹ Guyyaa sadeesso'oo, harkuma ifitiin meya hoboloo gudditti'ii abbaayaa gudditti'itti gatane.

²⁰ Nuuti guyyaa hedduu aduu yookiin urjii hin dhaggine; bubbeelle ittuma jabaattee waan nutti bubbitteef, hin fayyinu jennee addii kutane.

²¹ Namooti adoo sagalee hin nyaatin guyyaa hedduu turaneen duuba, Phawuloos odduu isaanii dhaabbatee, «Jarana, waan ani isiniin jedhe dhageettanee Qareexisii adoo ka'uu dhaddane, bala'aa fi badiin tun isin hin dhaqqadduuyyu.

²² Amma ammoo, jabaadha'a! Sababille hoboloo guddittii malee, isin keessaa lubbuun nama tokkolle hin baddu.

²³ Halkan edaa ergamaan Waaqaa ka Waaqa ani ka isaa te'ee fi ka ani waaqonfadhuu, na bira dhaabbatee,

²⁴ «Phawuloos, hin sodaatin! Ati Mootii Mootota Rooma'aa dura dhaabbatuu qadda. Waaqille lubbuu worra si woliin jiruu duudii, si'iif jedhee du'a irraa hin hambura» jedhee natti himeera.

²⁵ Tanaaf, jarana jabaadha'a! Akkuma inni natti hime akka teetu ani Waaqatti hin addadha.

²⁶ Te'uu malee, bubbe'een oofannee, oddoola tokko irratti gatamuu hin oollu» jedhe.

²⁷ Gaafa guyyaa kudhanii arfeesso'oo halkan, abbaayaa Adriiya'aa irra bubbeen asii fi achi nu oofaa, gara halkan wodhakka'aa yennaa geenne, worri hoboloo guddittii keessa jiranu, waan lafatti dhikaatane seyane.

²⁸ Isaan waan ulfaatu qaccee wodaro'ootitti hidhane gad buusane, gad fageenni bisaanii meetira afurtama te'ee dhaggane; diqqoo deemanen duuba akkuma kaan wodaroo bisaan keessa buusane gad fageenni meetira soddoma te'e.

²⁹ Hoboloon guddittiin rassaa dhootti jedhanee sodaatanee, sibiila ulfaataa afur, hoboloo guddittii duubaan abbaayaa keessa gad buusanee, akka latti bariituuf daadimatane.

³⁰ Achiin duuba worri hoboloo guddittii oofu, dheetiisa barbaadanee, sibiila ulfaataa hoboloo guddittii duraan abbaayaa keessa waan gad buusanu fakkeessanee, hoboloo diqqittii hoboloo guddittii irra jirtu, abbaayaa keessa buusane.

³¹ Phawuloos ammoo ajajaa dhibbaatii fi loltootaan, «Worri kun hoboloo guddittii irra yoo turuu dhabe, isin hafuu hin dandeettanu» jedhe.

³² Tanaaf loltooti wodaroo hoboloon diqqoon ittiin hidhante irraa kutanee abbaayaa irratti gad lakkisane.

³³ Fuullee ganamaa, Phawuloos isaan duudiin sagalee akka nyaatanu kadhatee, «Isin adoo sagalee hin nyaatin adhi bultii kudhanii arfeesso'oo ti; yennaa tana mara womaa afaaniin hin qanne.

³⁴ Tanaaf, akka isin sagalee nyaattanu isin kadhada; jiraatiisaaf nyaatiisa isin barbaachisa. Isin keessaa mataa nama tokkoo irraayyuu rifeensi tokkolle hin badu» jedhe.

³⁵ Phawuloos tana jedheen duuba, xaltaa ol fuudhee, isaan duudii duratti Waaqa galateeffatee, cassee, nyaatiisa jalqabe.

³⁶ Achiin duuba isaan duudiin jajjabaatanee, sagalee nyaatane.

³⁷ Nuuti worri hoboloo keessaa wolumatti namoota dhibba lamaa fi torbaatamii jaa.

³⁸ Isaan duudiin nyaatanee quufaneen duuba, fe'iisa qamadi'ii abbaayaa gudditti itti darbanee hoboloo guddittii sallisane.

Caccabiisa Hoboloo Gudditti'ii

³⁹ Yennaa latti bariite, worri hoboloo oofu latti eessa akka teete hin beenne; ammoo isaan maansa qarqara abbaaya'aa dhagganee, yoo dande'ame hoboloo guddittii gara qarqara lafaa dhiibiisaaf barbaadane.

⁴⁰ Maarre isaan wodaroo kutanee sibiila ulfaataa san akka abbaayaa keessa lixu lakkisane; yoosuma wodaroo muka hobolo'oon oofanulle* hiikane. Marduufa† fuula duraa bubbe'etti ol kaasanee, akka bubbeen hoboloo guddittii gara qarqara abbaaya'aa geessitu lakkisane.

⁴¹ Hoboloon guddittiin ammoo gara duraatiin lixee, tuulaa maansaatitti rakkatee tacho'uu dadhadde; gara duubaatiin ammoo hunna danbali'iitiin caccabuu jalqadde.

⁴² Worra hidhamane keessaa tokkolle abbaayaa daakee akka hin milindhe, loltooti isaan duudii ijjeesiisaaf yaadatane.

⁴³ Ajajaan dhibbaa ammoo Phawuloos lubbuu hamburiisaaf waan barbaadeef, akka isaan waan yaadane godhanu hin lakkinne. Inni worri daakiisa dande'u dursee hoboloo guddittii irraa utaalee akka lafatti bayanu ajaje;

⁴⁴ worri hafe ammoo, falaxaa mukaa baxxichaan yookiin muka hoboloo gudditti'ii ka caccabeen akka bayanu hime. Akka kanaan isaan duudiin nageyaan lafa irra geyane.

28

Phawuloos Oddoola Malaaxiya'aatitti

¹ Nuuti nageyaan lafa irra geenneen duuba, maqaan oddoola sanii Malaaxiyaa akka jedhamu beenne.

* **27:40** Muka hobolo'oon oofanu: Shaffisaa jedhama. † **27:40** Marduufa: Yookiin sharaa

² Namooti oddoola sanii, waan baaseffachiisu nuu godhane; roobaa fi boojjii waan teeteef, ibidda gabbisane nu duudii fudhatane.

³ Phawuloos haasumee wolitti qabee ibiddatti yennaa kewu, buutiin takka qoraan keessaa o'a ibiddaa adoo dheettuu, harka Phawuloosii ciniinte.

⁴ Namooti oddoola sanii, buutiin harka Phawuloosiititti rarrateertuun dhagganee, «Namichi kun nama dhiigaa ti; inni abbaayaa keessaa nageyaan bawulle, muraa Waaqaa jalaa bayee, jiru'uun le'iisa hin dandeenne» woliin jedhane.

⁵ Phawuloos ammoo, buutii ibidda irratti hargufee buusee, adoo hin miidhamin hafe.

⁶ Isaan, «Nafi isaa ammaa iitowa yookiin ammaa lafa dhowee du'a» jedhaa eegaaraniiyyu. Guddoo eeganeen duuba ammoo akka womaa te'aa hin jirre dhagganee, yaada ifii jijjiirane, «Inni waaqa» jedhane.

⁷ Bulchaan oddoolaa ka Phophlii'os jedhamu tokko, addee san biraa lafa qabaayyu; inni mana ifiititti nu fudhatee, haga guyyaa sadii akka dansaa nu keessumsiiise.

⁸ Gaafas abbaan Phophlii'osii dhukkuba nafa o'isuu fi albaasuun dhibamee irkateeraayyu. Phawuloos gara isaa ilaaliisaaf seenee, isaaf daadimatee, harka ifii isa irra keyee fayyise.

⁹ Wonni kun teeteen duuba, worri dhibiin oddoola sanii ka dhibamane duudiin, dhufanee fayyane.

¹⁰ Isaan ulfinna guddaa nu kennanee, yennaa nuuti hobolo'oon deemiisaaf kaane, waan kara'aaf nu barbaachisu mara nuu kennane.

Phawuloos Roomaa Geye

¹¹ Ji'a sadiin duuba hoboloo guddittii Iskindiriya'aa, ta ji'a gannaa lafa Maalxiya'aatitti baateen kaanee deenne; hoboloon guddittiin sunille waaqota lakku'uu ka, «Diyoosqoros*» jedhamu mataa irraa qaddi.

¹² Qachaa Seraakusiititti galtee, guyyaa sad achi bulle.

¹³ Achii hobolo'oon kaanee, qachaa Reegiyosii geenne. Boruyyaa bubbeen kibba irraa bubbittu waan kaateef, guyyaa lamatti gara qachaa Photiyolii dhunne.

¹⁴ Qachaa sanitti dhugeeffattoota garii dhagginee, guyyaa torba isaan woliin akka turru nu gaafatane; achiin duuba gara qachaa Rooma'aa deenne.

¹⁵ Dhugeeffattooti qachaa Rooma'aa keessa jiranu, dhufa teenna dhage'anee, kuun haga qachaa Aphiyosii, kuun haga addee «Bultuma sad» jedhantuu nu fudhatiisaaf dhufane. Phawuloos yennaa isaan dhagge, Waaqa galateeffatee, jajjabaate.

Phawuloos Rooma'atti

¹⁶ Qachaa Rooma'aa yennaa geenne, Phawuloos lolticha isa eegu woliin qofi akka le'u eeyyamameef.

¹⁷ Guyyaa sadiin duuba, Phawuloos sooreyyii Yihudootaa wolitti waansise. Yennaa isaan wolitti qabamane, «Obboleeyyan tiyya; ani kolbaa teenna irratti yookiin aadaa abbootii teenna irratti yakkaa tokkolle adoo hin godhin, Yerusaalem keessatti hidhamee, harka worra Rooma'aatitti dabarfamee kenname.

¹⁸ Worri Rooma'aa na qorane, yakkaa du'a natti mursiittu waan dhabaneef, na hiikiisaaf barbaadane.

* **28:11** *Diyoosqoros*: Afaan Giriikiitiin Diyoosqoros jechuun ilmaan Ze'osii lamaan Kaastorii fi Polokis jechu'u

¹⁹ Yihudooti ammoo yennaa waan kana mormane, Mootii Moototaatitti akka iyyadhu hunnaan godhame malee, kolbaa tiyya irratti himata hin qabu.

²⁰ Sababa kanaaf isin dhaggee, isin woliin dubbannuuf isin waame. Ani sababa addii kolbaa Israa'eliitiif jedhee wodaroo sibiilaa tanaan hidhameera» jedhee isaanitti dubbatte.

²¹ Isaan deebisane, «Lafa Yihuda'aa irraa xalayaan tokkolle marroo teetiif nuuf hin barreeffanne; yookiin kolbaan teenna ta achii dhutte oduu yookiin waan hantuu tokkolle marroo teeti hin dubbanne.

²² Te'uu malee kolbaan addee duudi'itti golii dhugeeffannaa teetii tana akka mormitu hin beenna; nuuti ammoo yaada keeti dhage'uu barbaanna» jedhane.

²³ Maarre isaan guyyaa Phawuloos woliin wol dhagganu qabatanee, guyyaa san heddatanee addee Phawuloos jiru dhufane. Inni ganamaa jalqabee haga galgalaa marroo Mootummaa Waaqaa isaanii dhugaa bayee, marroo Yesuusii kitaaba Muuse'eetii fi raagotaa keessaa itti himaa isaan dhugeeffachiisiisaaf wodhaane.

²⁴ Isaan keessaa gariin dubbii inni dubbate dhugeeffatane, worri kuun ammoo hin dhugeeffanne.

²⁵ Maarre isaan wolii hin galle; adoo isaan achii hin ka'in, Phawuloos dubbii takkattii tana isaanitti dubbatee, «Ayyaanni Woyyichi afaan Isaayaasii raagichaatiin abbootii teessanitti dubbatee,

²⁶ « «Gara kolbaa tanaa dhaqiitii:

Isin hin dhageettan hin dhageettan, ammoo hin hubattanu:

Isin hin ilaaltan hin ilaaltan, ammoo hin dhaggitanu jedhiin.

²⁷ Sababille qalbiin kolbaa tanaa dillootteerti;

gurri isaanii cuqqalameera;

ila ifille dunuunfataneeran.

Adoo akkas hin te'inii, silaa ilti isaanii dhaggitee,

gurri isaanii dhage'ee,

qalbiin isaanii hubattee,

silaa gara kiyaa deebi'anee, anille isaan fayyiseeraayyu» jedhe.

²⁸ «Fayyinni Waaqaa kun worra Yihudoota hin te'iniif akka ergame beeka'a. Isaan hin dhage'an» jedhe. [

²⁹ Phawuloos tana dubbateen duuba, worri Yihudootaa guddoo wol moromaa isa biraa deemane.]†

³⁰ Phawuloos woggaa lama duudii mana kireeffate keessa tee'ee, worra isa ilaaliisaaf dhufu duudii fudhate.

³¹ Inni sodaa malee, namuu adoo isa hin dhooggin mootummaa Waaqaa lallabaa, marro Gootaa Yesuus Kiristoosiille barsiise.

† 28:29 Woraabbiin durii durii gariin laakkossa 29 hin qabanu

Ergaa Phawuloos Gara Worra Rooma'aa Erge Seensa

Ergaan Phawuloosii ta gara worra Rooma'aa barreeffante, Phawuloos wolde'a kiristaanaa ka Roomaa jiru dhagee ilaaliisaaf yaada waan qabuuf, qophowanee akka isa eeganuuf barreeffante. Yaad Phawuloosii wolde'a kiristaanaa ka Roomaa keessa jiru woliin yenna digqoo hujeen duuba, qarqaarsa isaanitiin, gara Ispeenii dhaqiisa. Marroo dhugeeffannaa kiristaanaa waan isaa galeeruu fi kiristaanoti le'ii isaanii keessatti hujii irra akka oolfatanu itti himiisaaf barreesse. Ergaan Phawuloosii haala guutu'uun ergaa tana keessatti dhagganti.

Phawuloos dhugeeffattoota Rooma'atti dhaggamanuuf nageya ergee, akka daadimatuufille addii isaanii kenneen duuba, handhurti yaada isaa, «Wongeelli Waaqi dhugeeffanna'aan namoota akka balchoonsu jalqabaa haga dhumaattitti mudhisa» (1:17).

Kanaan duuba Phawuloos yaaduma kana badhisiisaan barreessa. Worri Yihudootaati fi worri Yihudoota hin te'inille, ilmaan namootaa duudiin, cubbuu jala waan jiranuuf, Waaqa woliin araaramuu isaan barbaachisa. Yesuus Kiristoositti dhugeeffatiisaan, namooti Waaqa woliin araaramuu dande'an. Firooma haareya Waaqa woliin godhatane kana ka fide, jiruu haareya Kiristoos woliin tokko te'ane kana akka te'e Phawuloos himeera. Dhugeeffataan Waaqa woliin nageya qaba. Ayyaana Waaqaatiin cubbu'uu fi du'a jalaa bayeera. Foorota 5-8 keessatti Phawuloos yaada Seera Waaqaatii fi le'ii dhugeeffata'aa keessatti hunna Ayyaana Waaqaa akeeka. Achiin duuba Phawuloos, «Karoora Waaqi sanyii namaatiif qabu keessatti Yihudootaa fi worri Yihudoota hin te'in attam woli galuu dande'an?» gaaffii jettu woliin wodhaantoo qabata.

Ammalle Yihudooti Yesuus fudhatuu dhabiisi karoora Waaqaa akka teete mudhisa; sababille haala kanaan sanyiin ilmaan namaa marti badhaadha Waaqi Yesuus Kiristoosiin mudhise keessa dabaru dandeetti; teetuu male, yennaan Yihudooti Yesuus fudhatanu akka dhufu'uu jirtu Phawuloos hin dhugeeffata; dhuma irratti Phawuloos le'ii kiristaanaa attam akka le'uu malane, keessattuu dhugeeffattooti tokkummaa wol woli qabanu keessatti, karaa jaalalaa hordofiisa akka barbaachisu hima; marroo Waaqa tajaajilisaa, kiristaanoti biyya ifiti fi wol woli ifitiif itti gaafatama qabanuu fi gaaffii wodanaa namaa keessatti kaatu, tokko tokkoon hima.

Haadhoo Dubbi'ii

Itti seensa Yaada jabaa kitaaba kana keessaa 1:1-17

Fayyinni ilma namaatiif barbaachisaa akka te'e 1:18–3:20

Karaa Waaqi itti fayyisu 3:21–4:25

Jiruu haareya Kiristoosiin dhaggantu 5:1–8:39

Karoora Waaqi Israa'eliif qabu 9:1–11:36

Hujii kiristaanumma'aa 12:1–15:13

Yaada buufataatii fi nageya 15:14–16:27

¹ Ana Phawuloosii tajaajilaa Yesuus Kiristoosii te'ee fi ergamaa te'iisaaf waamamee, Oduu Gammadaa ta Waaqaa akka lallabuuf Waaqi file irraa:

² Oduun Gammadaa tun akkuma Barreeffama Woyyicha keessatti barreeffante, ta Waaqi bara heddu'uun duratti karaa raagota ifitiin waadaa gale.

³ Oduun Gammadaa marroo Ilma isaa, Goottaa keenna Yesuus Kiristoosii, namoomaan sanyii Daawitii keessaa dhalatee dubbatti;

⁴ akkasuma Goottaan keenna Yesuus Kiristoos Ayyaana Woyyichaan* du'a keessaa ka'iisaan, Ilma Waaqaa akka te'e hunna guddo'oon beekkameera.

⁵ Karaa isaatii fi maqaa isaatii jedhee, worri Yihudoota hin te'in mara akka dhugeeffatuu fi ajajamu, akka ani qajeelchuuf badhaadha ergamaa te'iisaa, Waaqi naaf kenneera.

⁶ Isinille worri Roomaa keessaa, ka Yesuus Kiristoosii akka teetanuuf Waaqi waameera.

⁷ Maarre isin worra Roomaa keessa leetanu, ka Waaqi jaalatee akka kolbaa isaa teetanuuf waame maraaf:

Waaqi Abbaan keennaa fi Goottaa Yesuus Kiristoos badhaadhaa fi nageya kennu.

Daadimata Galataa

⁸ Duraan dursee, dhugeeffannaan teessan biyya lafaa maratti waan dhage'amiisatti jirtuuf, karaa Yesuus Kiristoosiitiin isin maraaf Waaqa kiyya galateeffadha.

⁹ Waaqi ani gadhaa tokkochaan Oduu Gammadaa ta marroo Ilma isaa dubbattu lallabiisaan tajaajilu, akka ani yennaa mara daadimannaa tiyyaan isin qaabadhu dhugaa tiyya.

¹⁰ Waaqi fedha ifitiin dhuma irratti akka ani amma dhufee isin dhagguuf akka na dandeessisu gaafadha.

¹¹ Isin jajjabeessiisaaf, eebba Ayyaanaa isiniin geyiisaaf, ani isin dhaggiisaaf guddoo barbaadeera.

¹² Isin dhugeeffannaa tiyyaan anille dhugeeffannaa teessaniin, nuuti lamaanuu akka wol jajjabeessinu jechuu kiyya.

¹³ Obboleeyyan tiyya! Ani akkuma worra Yihudoota hin te'in oddu'utti dhugeeffattoota hedduu dhagge, isin odduulle'etti dhugeeffattoota dhagguu fedheeraayyu; yennaa hedduu gara keessan dhufiisaaf karoorfadhee, ammoo akka naaf hin te'in akka beettanu barbaada.

¹⁴ Ani kolbaa maraaf, worra Giriikootaati fi worra Giriikoota hin te'iniifille, qaroole'ee fi gowwoole'eefille itti gaafatama qaba.

¹⁵ Maarre ani isin worra Roomaa keessa leetanuufille, Oduu Gammadaa lallabiisaaf halchaa qaba.

Hunna Oduu Gammadaa

¹⁶ Ani Oduu Gammadaattitti hin fokkifadhu; Oduun Gammadaa worra dhugeeffatu mara: duraan dursitee Yihudoota, akkasuma worra Yihudoota hin te'in mara fayyisiisaaf hunna Waaqaa ti.

¹⁷ «Balchaan dhugeeffanna'aan jiruu dhaggata» jedhantee barreeffanteerti; balchummaan Waaqaa huji'iin waan mudhatteef, jalqabaa haga dhumaattitti nami dhugeeffanna'aan balchooma.

Yakkaa Ilmaan Namaa

¹⁸ Waaqa sodaa dhabiisaa fi hammeenna kolba'aa, ka hammeenna ifitiin dhugaa mudhii dhoogganu irratti, ol-gubbaa irraa mufiin Waaqaa mudhatteerti.

¹⁹ Waan namooti marroo Waaqaa beekiisaaf dande'anuu, Waaqinuu waan isaanitti mudhiseeruuf, isaanitti mura.

²⁰ Biyyi lafaa haga dadantee jalqabee adabi isaa, jechuulle hunni isaa ta bara baraatii fi Waaqummaan isaa ilatti ta hin mudhanne, karaa waan inni

* **1:4** Ayyaana Woyyichaan: Ayyaana woyyummaa ifitiin **1:13** HuE. 19:21 **1:16** Mar. 8:38

dadeetiin mudhattee hubatanteerti; maarre namooti waan itti aalatanu hin qabanu.

²¹ Isaan Waaqa adoo beekaneeranu, ulfinnaa fi galata isaaf male hin kennineef; yaada ifitille'een shufuroo te'ane; qalbiin isaanii duwwaan sun dukkanootte.

²² Qaroollee ifiin jedhan, ammoo isaan gowwoole'e;

²³ ulfinna Waaqa hin duuneef kennuu malane, fakkii nama du'uutiif yookiin sinbirrootaatiif yookiin bineensota miila afuriitiif yookiin bineensota lafa irra lowanuutiif kennane.

²⁴ Tanaaf akka isaan nafa wolii irratti waan fokkisiisu godhanuuf, halchaa isaanii badduu ta battumma'aan guutanteef akka bitamanu Waaqi dabarsee isaan kenne.

²⁵ Sababille isaan dhugaa Waaqaa dharatti jijjiirane; Waaqa dade waaqonfatiisa irra waan Waaqi dade waaqonfatanees tajaajilane; Waaqi ammoo haga bara baraa ka galateeffame! Ameen.

²⁶ Isaan kana waan hujaneef, Waaqi halchaa fokkisiittuuf dabarsee isaan kenne. Dubartiin isaanii aadaa malee dubartii woliin sagaagalte.

²⁷ Akkasuma dhiirtille wol qunnamtii aada'aa ta dubartii woliin gootu lakkittee, halchaa wol woliitiin gubatte. Tanaaf dhiirti dhiira woliin waan fokkisiisu goote; hujii badduu ifitiif adabbii malte ifitti fidane.

²⁸ Namooti Waaqa beekiisa waan didaneef, Waaqi qalbii jallaametti'iif dabarsee isaan kenne; tanaaf isaan waan hujisaaf hin malle hujan.

²⁹ Isaan balleessaa adda addaatiin, hammeennaan, joljolaan, hujii gadhe'een, hinaaffa'aan, ijjeecha'aan, lolaan, sobaa fi dabaan guutamane. Akkasuma wol hamatan,

³⁰ maqaa wol balleessan, Waaqa jibban, wol arrassan, hin bondhooran, ifi saadan, karaa heddu'uun hammeenna barbaadan, worra ifitiif hin ajajamanu,

³¹ hin qalbeeffatanu, waan dubbatanu hin guutanu, woli hin jaalatanu yookiin woliif naasuu hin qabanu.

³² Isaan Seera Waaqaa ka, «Worra waan akkasii godhu maraaf du'atti male» jedhu hin beekan. Te'uu malee, waan akkasii mara godhiisa qofa adoo hin te'in, worra waan akkasii godhulle'een, «Dansaa gootane» jedhan.

2

Muraa Waaqaa

¹ Ati, nama dhibi'itti ka murtu, waan itti aalattu hin qaddu. Ati ka nama dhibi'itti murtu, waanuma inni huje san waan hujjuuf, ifumatti murta.

² Muraan Waaqaa ka worra waan akkasii huju irratti dhufu sirrii akka te'e nuuti hin beenna.

³ Ati ammoo, namana, yennaa waanuma namatti murte san hujju, waan muraa Waaqaa jalaa milixxe baatu sitti fakkaataa?

⁴ Yookiin gadhi-laafummaa isaa guddoo, ossata isaatii fi si dande'uu isaa hin tuffattaa ree? Wonni Waaqi gadhi-laafummaa ifii si'iif fakkanseef, gara cubbuu irraa deebi'iisaa si geessiisaaf akka te'e hin beettuu?

⁵ Ati ammoo mataa jabinnaa fi yaada cubbuu irraa hin deebine hin qadda. Yennaa mufi'ii fi muraan Waaqaa balchittiin mudhattuuf adabbii teeti kuufatiisatti jirta.

⁶ Waaqi nama tokko tokkoofuu akkuma hujii isaatitti hin kenna.

⁷ Inni worra ossee waan dansaa hujaa ulfinna, guddinnaa fi jiruu hin banne Waaqa biraa dhagatiisaaf barbaaduuf, jiruu bara baraa hin kenna.

⁸ Worri dhibiin mataa ifii jaalatee waan dokonkora te'e hordofiisaaf dhugaa didane; Waaqi mufi'ii fi muraa ifii isaanitti hin fida.

⁹ Dhiphinnii fi rakkinni worra waan hantuu huju mara irratti, dursee Yihudoota irratti akkasuma worra Yihudoota hin te'in irralle'etti hin dhufa.

¹⁰ Waaqi ammoo ulfinna, guddinnaa fi nageya worra waan dansaa hujatu maraaf, dursee Yihudootaaf akkasuma worra Yihudoota hin te'iniifille hin kenna.

¹¹ Waaqi nama wol hin caalchisu.

¹² Worri adoo Seera Muuse'ee hin qabaatin cubbuu huju, Seera dhabulle hin badan; worri Seera adoo qabuu cubbuu huju maraa ammoo Seeraan itti muranti.

¹³ Sababille fuula Waaqaa duratti waan Seerri ajaju hujiisaan balchaa te'an malee, dhage'iisa calla'aanii moti.

¹⁴ Worri Yihudoota hin te'in Seera hin qabanu; Seera qabaatuu dhabanulle, dadama isaaniitiin waan Seerri ajaju hujan; isaan ifiif seera isaanii ti.

¹⁵ Akki isaanii akka wonni Seerri ajaju gadhaa isaanii keessatti barreeffameeru mudhisa. Yennaa tokko tokko wodanaan isaanii isaan himata; yennaa tokko tokkole isaaniif falmata; tanaaf, wodanaan isaaniille tun dhugaa akka teete mudhisa.

¹⁶ Maarre, akka Oduu Gammadaa ani lallabuutitti, yennaa Waaqi karaa Yesuus Kiristoosiitiin waan dhossa'a ka namooti hujane maratti muru tun teeti.

Yihudootaa Fi Seera

¹⁷ Kunoo ati, «Ani Yihudi'i» ifiin jetta; seeratti ciqilfatta; ka Waaqaa te'iisa keetille'een ifi jajja.

¹⁸ Ati fedha Waaqaa hin beetta; Seera waan baratteertuuf waan te'uu fi waan hin teene gargar baattee hin beetta.

¹⁹ Worra balla'aaf sooressa, worra dukkana keessa jiruuf ifa akka teete ifi addatta;

²⁰ Seera keessatti beekkumsaa fi dhugaa waan dhaggiteef, gowwaa hin gorsita, wollaalaa hin barsiitta.

²¹ Ati worra dhibii ka barsiittu maaf ifi hin barsiinne ree? «Hin hatina'a!» jettee lalladda, ifiif ammoo hin hatta;

²² «Hin gaarayyeeffatina'a!» jetta, ifiif ammoo hin gaarayyeeffatta; waaqota dharaa waaqonfatiisa hin jibbita, ammoo galmoota isaanii hin saanta.

²³ Seera Waaqaatiin ifi jajja, ammoo seera isaa cassiisaan Waaqa irratti fokkoo fidda.

²⁴ Tun tama Barreeffam Woyyichi, «Sababa keessaniif, maqaan Waaqaa worra Yihudoota hin te'in oddu'utti faanshoweera» jedhu.

²⁵ Ati yoo Seeraaf ajajante, haqanqabaa qabatiisi keeti gatii qaba; yoo ati ammoo Seeraaf hin ajajamin, akka ijumaayyuu haqanqabaa hin qabatin teeta.

²⁶ Worri Yihudoota hin te'in ka haqanqabaa hin qabatin, ajaja Seeraatiif yoo ajajame, akka haqanqabaa qabateetitti Waaqi hin laakkowuufii ree?

²⁷ Maarre ati haqanqabaa qabattee Seera barreeffame qabaattulle, Seera waan cassiteef, worri haqanqabaa hin qabatin sitti hin mura; isaan nafaan haqanqabaa qabatiisa dhabanulle, Seeraaf ammoo ajajamaneeran.

²⁸ Nami maqaa calla'aan nama Yihudi'ii te'e nama Yihudii dhugichaa moti; akkasuma haqanqabaan nafaa mudhatu qabatanu haqanqabaa dhugichaa moti.

²⁹Yihudiin dhuga'aa nama keessi isaa Yihudii te'e; haqanqabaan dhugichi, haqanqabaa Ayyaana Waaqaatiin te'u, haqanqabaa qalbi'ii ti malee, haqanqabaa nafaa, ka akka Seera keessatti barreeffameetii moti. Nami akkasii leellisa Waaqa biraa dhaggata malee, nama biraanii moti.

3

¹Eegasuu bu'aan Yihudii te'iisaa maan ree? Yookiin gatiin haqanqabaa qabatiisaa maan?

²Dhugumaan Yihudii te'iis karaa maraanuu gatii guddoo qaba! Wonni guddaan Waaqi magannee jecha ifii Yihudootatti kennatiisa.

³Yihudoota keessaa gariin yoo hin addatamin, addatamiisa dhabiisi isaanii addatamiisa Waaqaa hin hamburaa ree?

⁴Ijjumaa hin hamburu!

«Ati jecha keetiin dhugaamessa teeta;
 worra si himatulle hin injifatta» jedhantee
 akkuma barreeffante, nami maraayyuu dharaamessa te'ulle,
 Waaqi dhugaamessa.

⁵Ammoo balchummaa dhabuun keenna yoo balchummaa Waaqaa irra caalaa mudhise, nuuti silaa maan jenna ree? Waaqi yennaa nu adabe balleessaa hujee ree? Tana akkuma nami dubbatu dubbadha.

⁶Ijjumaa waawwo'o! Waaqi balchaa yoo hin te'in, attamiin biyya lafaatitti mura ree?

⁷Ammoo addatamuu dhabuun kiyya addatamiisa Waaqaa mudhittee, baceenna ulfinna isaa ka mudhittu yoo teete, maaf haga ammaa akka cubbaalessaa natti murama ree?

⁸Namooti gariin, «Waan dansaa fidiisaaf, kowa'a waan hantuu huyna» jedhaa akka waan ani barsiisuu fakkeessanee na himatan; tanaaf worra akkasii irratti muraan murantu tama isaanii malte.

Balchaan Hin Jiru

⁹Nuuti Yihudooti worra Yihudoota hin te'in hin caallaa ree? Ijjumaa waawwo'o! Nami duudiin Yihudootaa fi worri Yihudoota hin te'inille hunna cubbu'uu jala akka jiranu ani dursee mudhiseera.

¹⁰Akkuma barreeffante:

«Nami balchaan tokkolle hin jiru,
 tokkolle hin jiru;

¹¹ka hubatulle hin jiru;
 ka Waaqa barbaadatulle hin jiru.

¹²Martinuu worra gatii hin qanne te'aneeran;
 wol qabatanee dokonkoraneeran.
 Hujii dansaa ka huju tokkolle hin jiru;

¹³Jecha nama miidhu dubbatiisaaf,
 afaan isaanii akka awwaala banamee ti;
 arraba ifitiin hin soban;
 dubbiin hidhiin isaanii dubbattulle
 ta akka hadhaa dhudhuufa'aa nama miitu;
¹⁴afaan isaanii abaarsaa fi
 dubbii hadhoottu'uun guutameera.

¹⁵Miilli isaanii dhiiga namaa jissiisaaf ariifata;
¹⁶addee isaan dhaqane mara badi'ii fi deegatti jira.

¹⁷Karaa nageyaalle hin beekanu;

¹⁸Waaqa sodaan isaan bira hin jirtu» jedha.

¹⁹ Ajaji Seeraa worra Seera jala jiru akka ilaalu hin beenna; tanaaf namooti waan itti aalatanu dhabanee afaan qabatan; biyyi lafaa duudiin muraa Waaqaa jala galti.

²⁰ Tanaaf eennulle Seera muummessiisaan Waaqa duratti hin balchoomu; Seerri nami maraa cubbicha akka te'e mudhisa.

Dhugeeffanna'aan Balchoomuu

²¹ Amma ammoo, Seeraaf adoo hin ajajamin karaan Waaqi kolbaa ittiin balchoonsu mudhateera; Seerri Muuse'eetii fi Raagotille karaa kanaaf dhugaa bayaneeran.

²² Waaqi worra Yesuus Kiristoositti dhugeeffatu maraaf adoo wol hin caalchisin balchummaa hin kenna.

²³ Nami martinuu cubbuu hujeera; ulfinni Waaqaalle irraa dhidhateera*.

²⁴ Ammoo karaa wodoo te'iisa Yesuus Kiristoosiitiin toluma badhaadha Waaqaatiin balchoomeera.

²⁵ Worri isatti dhugeeffatu maraa dhiiga isaatiin araara cubbuu ifii akka dhaggatuuf, Waaqi Yesuus Kiristoos ciincaa guma'aa godhee dhikeesse. Inni cubbuu durii ossa ifitiin balleessiisaan muraa ifii ta sirrii teete mudhisiisaaf tana godhe.

²⁶ Bara ammaa kanalle, worra Yesuus Kiristoositti dhugeeffatu mara balchoonsiisaan, Waaqi balchaa te'iisa ifii mudhisa.

²⁷ Yoona wonni ittiin ifi jajnu maanti jira ree? Womaa! Maaf ifi jajuu dhanna ree? Waan Seera muummessinuufii? Waawwo'o; ammoo dhugeeffanna'aan.

²⁸ Maarre nami waan Seerri ajaju muummessiisaan adoo hin te'in, dhugeeffannaa calla'aan Waaqa duratti akka balchoomu dhaggina.

²⁹ Yookiin Waaqi Waaqa Yihudootaa calla'aa? Inni Waaqa worra Yihudoota hin te'iniitille'ee motii? Ee, ka worra Yihudoota hin te'iniitille'e.

³⁰ Waaqi tokkocha; Yihudootalle te'e, worra Yihudoota hin te'in dhugeeffannuma isaaniitiin ka balchoonsu isa.

³¹ Eegasuu dhugeeffanna'aan Seera hin diinna jechu'uu ree? Waawwo'o; diigiisaan irra, Seera jabeessinee qabanna.

4

Fakkeenaa Te'iisa Abrahaamii

¹ Marroo Abrahaamii, abbaa sanyii teennaa maan jenna ree? Inni maan dhaggate?

² Adoo waan Abrahaam huji'iin balchoomee jiraate, silaa inni waan ittiin ifi jaju qabaayyu; ammoo Waaqa duratti ifi jajuu hin dande'u.

³ Barreeffam Woyyichi, «Abrahaam Waaqatti dhugeeffate, dhugeeffannaan isaalle balchumma'atti laakkowanteef» jedha.

⁴ Mindaan nama hojjateef kaffalamu, gatii hujii isaa ti malee, akka kenansaattitti hin laakkowamu.

⁵ Nami hujii dansaa dhabulle, Waaqa cubbaalleyyii balchoonsutti yoo dhugeeffate, dhugeeffannaan isaa balchumma'atti hin laakkowantiif.

⁶ Nami Waaqi hujii dansaa malee balchoonsu, nama badhaadhe akka te'e Daawitille dubbatee,

⁷ «Worri yakkaa isaaniitiif araarri kennamee fi cubbuun isaaniille haqanteef ka badhaadhe!

⁸ Nami Gootaan cubbuu isaa itti hin laakkonne ka badhaadhe» jedheera.

* **3:23** *Ulfinni Waaqaalle irraa dhidhateera:* Ulfinna addee Waaqi jiruu irralle'ee fagaateera **3:30**
Gal. 3:20

⁹ Badhaadhiisi kun worra haqanqabaa qabate gofaaf moo, yookiin worra haqanqabaa hin qabatinille'eef ree? Worra haqanqabaa hin qabatinille'eef. Nuuti, «Abrahaam Waaqatti dhugeeffatee, dhugeeffannaan isaa balchumma'atti laakkowanteef» jenna.

¹⁰ Dhugeeffannaan Abrahaamiif, balchumma'atti ka laakkowanteef yoom? Haqanqabaa qabateen dura moo duuba? Adoo haqanqabaa hin qabatin dura malee, duubaa moti.

¹¹ Abrahaam haqanqabaa adoo hin qabatin dura, dhugeeffannaan isaa balchumma'atti akka laakkowanteef, beessisa mirkaneessu akka te'uuf haqanqabaa qabate; tanaaf Abrahaam worra adoo haqanqabaa hin qabatin dhugeeffatuu fi dhugeeffannaan isaaniille balchumma'atti laakkowantu maraaf abba'a.

¹² Akkasuma Abrahaam worra haqanqabaa hin qabatinille'eef abba'a; waan isaan haqanqabaa qabatane gofaaf adoo hin te'in, waan isaan dhugeeffannaa inni adoo haqanqabaa hin qabatin dura qabulle hordofaneef, worra haqanqabaa qabateef abbaa te'e.

Waadaan Waaqaa Karaa Dhugeeffanna'aatiin Muummotte

¹³ Abrahaamii fi sanyiin isaa biyya lafaa akka dhaaltu wonni Waaqi waadaa galeef, marroo balchummaa dhugeeffanna'aan dhaggateetiif malee, waan Seera muummesseefii moti.

¹⁴ Worri dhaalu worra Seera muummessu yoo te'e, dhugeeffannaan gatii hin qaddu; waadaan Waaqi galelle gatii hin qabu.

¹⁵ Seerri mufii Waaqaa fida; addee Seerri hin jirretti ammoo, Seera dabariis hin jiru.

¹⁶ Tanaaf waadaan dhugeeffannaa irratti hundooyeeraayyu; waadaan kunille, ka sanyii Abrahaamii maraaf, Waaqa irraa badhaadhaan kenname akka te'e tanaan mirkanoweera. Kunille, worra akka Abrahaamii dhugeeffate maraaf malee, worra Seera hordofu gofaafii moti; Abrahaam nu maraafuu abba'a.

¹⁷ Barreeffam Woyyichi marroo Abrahaamii yennaa dubbatu, «Gosa heddu'uuf abbaa si godheera» jedha; Waaqa worra du'e du'aa kaasuu fi waan hin jirre jiraachisutti Abrahaam waan dhugeeffateef, Waaqi waadaa kana isaaf gale.

¹⁸ Abrahaam addee wonni addachiisu hin jirretti addatee, akkuma Barreeffam Woyyichi, «Sanyiin teeti hin heddatti» jedhu, abbaa gosa heddu'uu te'e.

¹⁹ Inni nama gara woggaa dhibbaa ti; ammoo nafa ifii ka du'a geye, yookiin gadaamessa Saara'aalle ka dewuu hin dandeenne herreege dhugeeffanna'aan hin dadhanne.

²⁰ Inni dhugeeffanna'aan jabaatee Waaqa ulfeesse malee, dhugeeffatiisa dhabee, waadaa Waaqaa hin mamne.

²¹ Waaqi waadaa gale ka muummessu akka te'elle gadhaa tokkochaan dhugeeffateeraayyu.

²² Tanaaf dhugeeffannaan Abrahaamii balchumma'atti isaa laakkowante.

²³ Te'uu malee jechi, «Balchumma'atti laakkowameef» jedhu, Abrahaam calla'aaf adoo hin te'in,

²⁴ nu'ulle'eef barreeffame. Nu worra Waaqa Goottaa keenna Yesuus du'aa kaasetti dhugeeffannuufille, dhugeeffannaan teenna balchumma'atti nu'uuf hin laakkowanti.

²⁵ Yesuus sababa cubbuu teennaatiif du'aaf dabarfamee kennamee, nu balchoonsiisaaf du'aa ka'e.

5

Waaqa Duratti Balchoomuu

¹ Tanaaf, eega dhugeeffanna'aan Waaqa duratti balchoonne, karaa Gootaa keenna Yesuus Kiristoosiitiin Waaqa woliin nageya qanna.

² Kiristoos gara badhaadha Waaqaa, ka amma ittiin dhaabbannee jirru kanaa nu fideera; nuutille addii ulfinna Waaqaa ittiin qoodannuun ifi jajna.

³ Tana qofaan adoo hin te'in, rakkinni ciniinnatanee ossiisa akka nu'uu fidu waan beennuuf, rakkinna keennalle'een ifi jajna.

⁴ Ciniinnatanee ossiisille mirkaneessiisa Waaqaa fida; mirkaneessiis Waaqaalle addii fida.

⁵ Jaalalli Waaqaa karaa Ayyaana Woyyicha nuuf kennameetiin, gadhaa keenna waan guuteeruuf, addiin nu hin qaanessitu.

⁶ Adoo nuuti dadhaboole'eetuu, yennaan Waaqi murteesse geennaan Kiristoos cubbaaleyyi'iif du'e.

⁷ Nama addee nama balcha'a du'u dhaggatiis guddoo rakkisa'a; te'ulle nami addee nama dansa'a du'iisaaf fedhu dhaggamuu fa dande'a.

⁸ Ammoo adoo nuuti cubbaaleyyi'iituu Kiristoos addee teenna du'eera; kunille jaalalli Waaqi nu'uuf qabu attam attam guddaa akka te'e mudhisa.

⁹ Amma nuuti dhiiga isaatiin eega balchoonnee, karaa isaatiin irra caalaa mufii Waaqaa jalaa hin baana.

¹⁰ Nuuti diinota Waaqaa ti; inni ammoo karaa du'a Ilma ifitiin jaalota ifi nu godhe. Amma eega jaalota Waaqaa teene, karaa jiruu Kiristoosiitiin irra caalaa hin fayyina.

¹¹ Tana qofa adoo hin te'in, karaa Gootaa keenna Yesuus Kiristoosii ittiin Waaqa woliin araaranneetille'een, Waaqaan ifi hin jajna.

Duuti Addaamiin, Jiruun Kiristoosiin

¹² Karaa nama tokkochaatiin cubbuun gara biyya lafaa dhutte; cubbuulle du'a fidde. Akkasuma nami maraa cubbuu Addaamiitiin waan cubbameef, duuti sanyii namaa maratti dhutte.

¹³ Adoo Seerri Muuse'ee hin kennamin dura cubbuun biyya lafaa irra jirtiyyuu; te'uu malee addee Seerri hin jirretti, cubbuun akka cubbu'utitti hin laakkowantu.

¹⁴ Ammoo bara Addaamii irraa jalqaddee haga bara Muuse'ee, duuti nama mara irratti moote; worruma akka Addaamii Seera Waaqaa dabaree cubbuu hin hunye irralle'etti moote.

Addaam fakkeenaa Kiristoosii dhufuu ti.

¹⁵ Ammoo kennaan badhaadha Waaqaa akka cubbuu namaatii moti; akkuma sababa cubbuu nama tokkochaatiif worri hedduun du'e, sababa badhaadha Waaqaatii fi sababa Yesuus Kiristoosii nama tokkochaatiif, kennansi badhaadhaa worra heddu'uuf danbalaafamee kennameera.

¹⁶ Akkasuma bu'aan badhaadhaa, ka kennansi Waaqaa tolaa fide, ka akka cubbuun nama tokkochaa fiddeetii moti; muraan marroo cubbuu nama tokkochaatiif kenname adabbii fide; kennansi tolaa ka sababa cubbuu heddu'uutiif kenname ammoo balchummaa fide.

¹⁷ Eega sababa cubbuu nama tokkochaatiif duuti nama mara irratti baallii dhaggatte, worri badhaadha Waaqaa ka danbala'ee fi kennaa tolaa fudhatee balchoome maraa, karaa nama tokkochaa, karaa Yesuus Kiristoosiitiin le'aa mowan.

¹⁸ Maarre, akkuma cubbuun nama tokkochaa nama maratti yakkaa mur-siitte, hujiin balchummaa'aa ta nama tokkochaa nama mara balchoonsitee jiruu hin kenniti.

¹⁹ Akkuma ajajama dhabiisa Addaamiitiin worri hedduun cubbaalleyyii te'e, ajajamiisa Kiristoosiitiin worri hedduun hin balchooma.

²⁰ Seerri akka cubbuun bacattuuf dhufe; ammoo qixxee cubbuun bacatte caalaa badhaadhi Waaqaa bacate.

²¹ Maarre, akkuma cubbuun karaa du'aatiin moote, badhaadhi Waaqaalle karaa Goottaa keenna Yesuus Kiristoosiitiin, gara jiruu bara baraa nu geessi-isaan balchumma'aan mowa.

6

Cubbuu Jalaa Du'anee Kiristoosiin Le'uu

¹ Yoona maan jenna ree? Badhaadhi Waaqaa akka bacatuuf ittuma cubbuu hunyaa ree?

² Waawwo'o! Nu worri cubbuu jalaa duune, attam cubbuma jala jiraanna ree?

³ Nu worri Yesuus Kiristoos waliin tokko te'iisaaf cuuphanne maraa, du'a isaalle goodamiisaaf akka cuuphanne hin beettanuu ree?

⁴ Yennaa cuuphamaan isa waliin awwaalanne, worra du'a isaalle goodamu teeneerra; tanaaf akkuma Kiristoos ulfinna Abba'aatiin du'aa ka'e, nuutille jiruu haareyaan hin jiraanna.

⁵ Du'a isaatiin yoo akkas isa waliin tokko teene, du'aa ka'iisa isaatille'een isa waliin tokko hin teena.

⁶ Le'iin teenna cubbaalettin akka badduu fi garboolee cubbu'uu te'iis keenna akka hafuuf, nafi keenna dullachi Kiristoos waliin akka fannifame hin beenna.

⁷ Nami du'e hunna cubbu'uu jalaa bilisa bayeera.

⁸ Yoona yoo Kiristoos waliin duune, isa waliin jiru'uun akka leenu hin dhugeeffanna.

⁹ Kiristoos waan du'aa ka'eef, deebi'ee akka hin duunee fi duutille isa irratti baallii akka hin qanne hin beenna.

¹⁰ Inni yennaa du'e akka cubbuun isa irratti hunna hin qabaanneef, takkumaan yennaa maraaf du'e; ammalle yennaa jiru'uun le'u, Waaqaaf le'a.

¹¹ Isinille akka cubbuu jalaa duutane, karaa Yesuus Kiristoosiitiin Waaqaaf leetanuu titti ifi laakkowa'a.

¹² Maarre halchaa foon keessaniitiif akka ajajantanu akka isin hin goone, nafa keessan ka du'u keessatti cubbuun akka mootuuf hin eeyyamina'a.

¹³ Nafa keessan keessaa addee takkaalle meya jallu'uu gootanee cubbu'uuf hin dhikeessina'a; ammoo akka worra du'a keessaa bayee gara jiru'uu dhufee, Waaqaaf ifi dhikeessa'a; nafa keessan duudii meya balchumma'aa godha'aatii Waaqaaf dhikeessa'a.

¹⁴ Isin badhaadha Waaqaa jala jirtan malee, cubbuu jala waan hin jirreef, cubbuun isin irratti hin goottontu.

Garboota Balchumma'aa

¹⁵ Yoona maan jenna ree? Nuuti badhaadha Waaqaa jala malee, cubbuu jala waan hin jirreef, cubbuu hunyuu ree? Ijjumaa waawwo'o!

¹⁶ Isin nama tokkoof ifi garba gootanee ajajamiisaaf yennaa dhiyeessitanu, nama ajajantanu saniif garba akka teetane hin beettanu ree? Akkasuma yoo cubbu'uuf ajajantane, cubbuu du'a fidduuf garba teetan; yoo Waaqaaf ajajantane ammoo balchummaa dhaggatan.

¹⁷ Isin dur garboota cubbu'uu ti; amma ammoo barumsa fudhattaneef gadhaa guutu'uun waan ajajantaneef, Waaqi galatoomu.

¹⁸ Cubbuu jalaa baatanee garboota balchumma'aa teetaneertan.

¹⁹ Isin dadamaan dadhaboolee waan teetaneef, ani dubbii namaa gal-tuun dubbatiisatti jira. Akkuma tanaan dura qooda nafa keessanii garba battumma'aatii fi jallu'uu gootanee dhikeessitane, amma akka goodi nafa keessanii maraa woyyoomu garba balchumma'aa godha'aatii dhikeessa'a.

²⁰ Isin yenna garboota cubbu'uu teetane, balchummaa jalaa bilisa jirtani-iiyyu.

²¹ Waan amma ittiin fukkifattanuu kana irraa yenna san bu'aa maan dhaggattane ree? Muummeen waan saniille du'a!

²² Amma ammoo cubbuu jalaa baatanee garboota Waaqaa waan teetaneef woyyummaa hin dhaggatan; muummeen woyyummaa'aalle jiruu bara baraa ti.

²³ Gatiin cubbu'uu du'a; kennansi Waaqaa ammoo karaa Gootaa keenna Yesuus Kiristoosiitiin jiruu bara baraa ti.

7

Seera Jalaa Bilisa Te'uu

¹ Obboleeyyan tiyya! Ani worra seera beekuuf dubbadha. Seerri haga nami jiru'uun jiru qofa nama irratti baallii qaba.

² Fakkeenaa, dubartiin heerumte takka, haga dhirsi isi'ii jiru seeraan itti hidhanteerti; yoo inni du'e ammoo, seera ittiin hidhante san jalaa baateerti.

³ Tanaaf dhirsi isi'ii adoo jiruu, dhiira dhibii yoo heerumte, gaarayyeffattu jedhanti. Dhirsi isi'ii yoo du'e ammoo, isiin seera isatti hidhante jalaa hin baati; dhirsa dhibii yoo heerumtelle gaarayyeffattu'uu moti.

⁴ Obboleeyyan tiyya! Haalli keessanille kanuma fakkaata; isin qooda nafa Kiristoosii waan teetaneef, Seera jalaa duutaneertan; tanaaf, akka nuuti tajaajila Waaqaatiif midhaan buunnuuf, isin ka Kiristoosii du'a keessaa ka'ee teetaneertan.

⁵ Yenna nuuti akka yaada foonii leenu san, halchaan hantuun Seeraan nunnuffantu, akka nuuti du'aaf midhaan buunnu, qoqooda nafa keenna keessatti hujjisatti jirtiyyu.

⁶ Amma ammoo, Seera nu hidheeru jalaa duunee, hidhaansa isaa jalaa baaneerra. Tanaaf haganaa achi karaa haareya Ayyaanaatiin malee, karaa Seera dullacha barreeffameeruutiin hin tajaajillu.

Seeraa Fi Cubbuu

⁷ Yoona maan jenna ree? Seerrinuu cubbu'u jennuu ree? Waawwo'o! Ammoo cubbuun maan akka teete akka ani beeku ka godhe Seera. Adoo Seerri, «Hin kajeelin» jedhuu dhabe kajeellaan maan akka teete, ani sila hin beekuuyyu.

⁸ Cubbuun karaa ajaja Seera irraa dhufeetiin, halchaan marti akka na keessatti nunnuffantu goote. Ammoo addee Seerri hin jirretti cubbuun waan du'e.

⁹ Yenna dur Seerri hin jirre ani jiru'uun le'eera; ammoo yenna ajaji Seeraa dhufe cubbuun jiruu dhaggatte,

¹⁰ ani du'e. Ajaji Seeraa ka jiru'uuf kennamelle du'a natti fide.

¹¹ Cubbuun karaa ajaja Seeraatiin na soddee, na ijeette.

¹² Maarre, Seerri woyyu'u; ajaji isaalle woyyu'u, balcha'aa fi dansa'a.

¹³ Eegasuu waanuma dansa'attuu du'a natti fide jechu'uu ree? Waawwo'o! Cubbuun cubbuu teete akka mudhattuuf, karaa waan dansa'aatiin, du'a natti fide. Karaa ajajaatiinille, cubbuun irra caalaa cubbuu teete.

Wodhaantoo Jiruu Namaa Keessa Jirtu

¹⁴ Seerri ayyaanticha akka te'e hin beenna. Ani ammoo nama foonii, ka garbicha cubbu'uu te'iisaaf gurgurameeru.

¹⁵ Ani waan godhu hin hubadhu; ani waan godhiisaaf barbaadu hin godhu, ammoo waan jibbu godha.

¹⁶ Ani eega waan hin barbaanne godhu teete, Seerri dansaa akka te'e wolii gala.

¹⁷ Ka waan ani godhiisaaf hin barbaanne godhu, cubbuu na keessa jirtu malee anaa moti.

¹⁸ Ana keessa yookiin namummaa kiyya keessa wonni dansaan takkattiille akka hin jirre ani hin beeka. Waan dansaa godhiisaaf halchaan na keessa jiraattulle, ani waan dansaa godhiisaaf hin dandeenne.

¹⁹ Ani waan dansaa godhiisaaf barbaade hin godhu; ammoo hantuu godhiisaaf hin barbaanne godha.

²⁰ Ani yoo waan godhiisaaf hin barbaanne godhu teete, ka kana godhu cubbuu na keessa jirtu malee, anaa moti.

²¹ Maarre ani Seerri hujii irra ooluun dhagga; ani yennaa waan dansaa godhiisaa barbaadu, seerri namumma'aa akka ani hantuu qofa godhu na tolcha.

²² Keessi kiyya Seera Waaqaatitti gammada.

²³ Te'uu malee seera dhibii ka nafa kiyya keessatti, seera qalbiin tiyya fudhatu waliin wollolu dhagga. Seerri dhibiin na keessatti hujiisatti jiru sun, seera cubbu'uu ti; inni garba ifii na godhateera.

²⁴ Ani nama farraamessa attamiiti! Foon gara du'aa na geessaaru kana jalaa eentu na baasa?

²⁵ Karaa Gootaa keenna Yesuus Kiristoosiitiin galanni Waaqaaf te'u!

Maarre, qalbii tiyyaan ani garbicha Seera Waaqaa ti; foon kiyyaan ammoo garbicha seera cubbu'uu ti.

8

Ayyaana Waaqaatiin Jiraachuu

¹ Maarre worri Kiristoos Yesuusiin le'u, amma muraa yakka'aa jala hin jiru.

² Seerri Ayyaana Woyyichaa, ka jiruu kennu karaa Kiristoos Yesuusiitiin, seera cubbu'utii fi du'aa jalaa na baaseera.

³ Namummaan namaa dadhadduu waan teeteef, waan Seerri godhuu dadhabe, Waaqi godheera. Inni ilma ifii ka namummaa teenna cubbaaletti fakkaatee, cubbuu haqiisaaf dhufe, ergiisaan cubbuu namummaa namaa keessa jirtutti yakkaa mure.

⁴ Nu worra akka fedha foonii adoo hin te'in, akka fedha Ayyaanaa leenu keessatti, wonni Seerri nu irraa gaafatu balchichi akka muummowuuf, Waaqi tana godhe.

⁵ Worri akka fedha foonii le'u waan foonii, worri akka fedha Ayyaanaa le'u ammoo waan ayyaanticha yaadatan.

⁶ Yaada fooniitiin mowamuun du'a fida; yaada Ayyaanaatiin mowamuun ammoo jiru'uu fi nageya kenna.

⁷ Nami yaada fooniitiin mowamu diina Waaqaa ti; sababille inni Seera Waaqaatiif hin ajajamu; ajajamiisaafille hin dande'u.

⁸ Worri yaada fooniitiif ajajamu Waaqa gammachiisuu hin dande'u.

⁹ Dhugumaan, Ayyaanni Waaqaa isin keessa waan jiruuf, isin akka fedha Ayyaanaa malee, akka fedha foonii hin leetanu. Nami Ayyaana Kiristoosii hin qannelle nama Kiristoosiitii moti.

¹⁰ Yoo Kiristoos isin keessa jiraate, sababa cubbu'uutiif nafi* keessan du'ulle, sababa balchumma'aatiif Ayyaanni jiruu isinii kenna.

¹¹ Ayyaanni Waaqaa ka Yesuus du'a keessaa kaase, isin keessa yoo jiraate, ka Kiristoos du'a keessaa kaase, karaa Ayyaana ifitiin nafa keessan ka du'uufille jiruu hin kenna.

¹² Tanaaf, obboleeyyan tiyya! Nuuti waan godhuu qannu qanna; wonni godhuu qannu sunille akka fedha foonii le'iisaa moti.

¹³ Yoo akka fedha foonii leetane, hin duutan; ammoo hunna Ayyaana Woyyichaatiin hujii fedha foonii yoo ijeettane jiru'uun leetan.

¹⁴ Worri Ayyaana Waaqaatiin sooreffamu mara ijoollee Waaqaa ti.

¹⁵ Isin Ayyaana ilmoomaa ka, «Abba'a! Abbaa keenna!» jettanee waan-tanuun fudhattane malee, soda'aan akka leetanuuf ayyaana ammalle isin garboonsu hin fudhanne.

¹⁶ Ayyaanni Waaqaatuu ayyaana keenna woliin woli galee, nuuti ijoollee Waaqaa akka teene dhugaa baya.

¹⁷ Maarre ijoollee Waaqaa eega teene, isa hin dhaalla; Kiristoos wolille'een hin dhaalla; amma rakkinna Kiristoosii eega qoodanne, ulfinna isaalle hin qoodanna.

Ulfina Dhufu

¹⁸ Rakkinni ammaa kun ulfinna gara duraa nu'uuf mudhatu woliin wol bira qabamee ilaalamuu akka hin dande'annetti ani laakkowa.

¹⁹ Dadi duudiin mudhachuu ijoollee Waaqaa dharraa gudda'aan eegiisatti jirti.

²⁰ Dadi duudiin ta gatii hin qanne akka teetuuf itti murameera; kunille fedhii ifitiin adoo hin te'in, fedhii Waaqa akka dadi duudiin addi'iin eeggattu godheetiin teete.

²¹ Addiin sunille ta dadi duudiin gaafa tokko garbummaa badi'ii jalaa baatee, ulfinna bilisummaa ijoollee Waaqaa qoodantu.

²² Dadi duudiinuu haga ammaa ciniinsifatiisaan aadiisatti akka jirtu hin beenna.

²³ Dada qofa adoo hin te'in, nuutinu worri Ayyaana kennaa mata'aa te'e qannu, Waaqi ilma isaa ka guddisaa te'iisa keenna akka mudhisuu fi du'a jalaa wodamiisa keenna eegataa, keessa keennatti aadiisatti jirra.

²⁴ Nuuti yennaa fayyine waan addi'iin eegataa jirrutti jira; wonni addii godhannu waan fudhanneerru† yoo te'e, addii te'iisi isaa hin hafa. Waan fudhateeru ka addi'iin eegatu eennu ree?

²⁵ Waan hin fudhatin yoo addii godhanne ammoo, ossaan hin eeganna.

²⁶ Akkuma kana Ayyaanni dadhabbii teenna nu qarqaara; attam akka daadimannu nuuti waan hin beenneef, Ayyaanni ammoo aaduu dubbiin himantee hin dandeenneen nu'uuf daadimata.

²⁷ Waaqi gadhaa namaa qorqorulle, yaadi Ayyaanaa maan akka te'e hin beeka; sababille Ayyaanni akka fedha Waaqaatitti kolbaa Waaqaatiif daadimata.

²⁸ Worra Waaqa jaalatu ka akka fedha isaa waamameef, Waaqi waan maraa dansa'aaf akka isaanii godhu hin beenna.

* **8:10** Nafi: Foon **8:11** 1 Qor. 3:16 **8:15** Mar. 14:36; Gal. 4:6 **8:23** 2 Qor. 5:2-4 † **8:24** Waan fudhanneerru: Waan ilatti mudhatu

²⁹ Worri inni dursee filate akka Ilma isaa fakkaatuu fi Ilmi isaalle obboleeyyan hedduu oddu'utti angafa akka te'uuf, waan Waaqi dursee murteesseeruuf tun teete.

³⁰ Worra dursee murteesse waameera; worra waamelle balchoonseera; worra balchoonselle ulfeesseera.

Jaalala Waaqaa

³¹ Marroo waan kanaa, nuuti maan jenna ree? Waaqi nu waliin yoo jiraate, eentu nu mormee dande'a?

³² Waaqi Ilma ifii adoo hin marariffatin, nu maraaf dabarsee kenne, waan mara Ilma ifii waliin toluma nuuf hin kennuu ree?

³³ Worra Waaqi fooyate eentu himata? Ka isaan balchoonsu Waaqa.

³⁴ Eentu itti mura ree? Kiristoos Yesuusiin du'ee, du'a keessaa ka'ee midda Waaqaa jiru, nu'uuf daadimatiisatti jira.

³⁵ Eentu jaalala Kiristoosii irraa gargar nu baasa ree? Rakko'oo moo farra? Miidha'a[‡] moo beela? Daara moo bala'a? Yookiin du'aa ree?

³⁶ Tun tama Barreeffam Woyyichi,
«Si'iif jennee guyyuma guyya'aan ijjeefanna;
akka hoolee qalantuutitti laakkowanneerra» jedhu.

³⁷ Garuu womaa moti; waan kana mara keessatti karaa ka nu jaalateetiin injifattoota caalleerra.

³⁸ Du'alle te'ee jiruun, ergantoota Waaqaalle te'ee bulchitooti ol-gubba'aa, wanna amma jirulle te'ee wonni dhufu'uuf jiru, hunnootalle yoo te'e,

³⁹ wanna gubbaa jirulle te'ee wonni gad jala jiru, wanna dada mara keessa jirulle yoo te'e, jaalala Waaqi Goottaa keenna Kiristoos Yesuusiin nu jaalate irraa dande'ee gargar akka nu hin baanne mirkaneeffadheera.

9

Waaqaa Fi Kolbaa Isaa

¹ Ani ka Kiristoosii waan te'eef dhuguma dubbadha; ani hin sobu. Wodanaan kiyya ka Ayyaana Woyyichaan sooreffamulle, akka ani hin sonne dhugaa naaf baya.

² Ani gadda gudda'aa fi laalaa hin lakkinne gadhaa kiyya keessaa qaba.

³ Gosa tiyya ta hiddaa hidaada kiyya teeteef jedhee, Kiristoos irraa gargar bayee adoo abaarame hin jaaladha.

⁴ Gosi tiyya sun gosa Israa'elii ti; Waaqi ijoollee ifii isii godhatee, ulfinna ifille isi'ii mudhise; gondoоро isii waliin gondoorate, Seerallee isi'ii kenne; isiin waaqonfannaa dhuga'aa qaddi; waadaa hedduulle Waaqi isi'iif gale;

⁵ isiin sanyii abbootii teenna gugurdo'oo ti; Kiristoosille*, akka namumma'aatitti gosa isi'ii keessaa dhalate; Waaqi[†] waan mara bulchu, haga bara baraa leellifamu! Ameen.

⁶ Te'uu malee jechi Waaqaa diigameera jechu'uu moti; kolbaan Israa'elii mara dhugumaan kolbaa Israa'eliitii moti.

⁷ Akkasuma sanyiin Abrahaamii marti dhugumaan ijoollee isaatii moti; ammoo, Waaqi Abrahaamiin, «Sanyiin teeti sanyii Yisihaqiitiin waammanti» jedheera.

⁸ Kana jechuun ijoolleen akkuma aadaa nami uumatuutiin dhalatte ijoollee Waaqaati jechu'uu moti; ammoo ta akka sanyi'iititti laakkowantu, ijoollee akka waadaa Waaqi galeetitti dhalatte.

⁹ Waadaan sunille jecha, «Bara dhufu yennaa akkasii yennaa ani deebi'ee dhufu, Saaraan ilma deetteerti» jedhu.

[‡] 8:35 Miidha'aa: Ari'ama * 9:5 Kiristoosille: Masiihiille † 9:5 Waaqi: Kiristoosiin

¹⁰ Kana qofaa moti, Ribqaan ilmaan lakkuu abbuma tokkochaaf, abbaa sanyii teennaa Yisihaqiif yenna ulfootte,

¹¹ filannoon Waaqaa huji'iin adoo hin te'in, waamichaan akka te'e mudhisiisaaf, ijoolleen lamaanuu adoo hin dhalatin, isaan keessalle'ee tokkollle dansaa yookiin hantuu adoo hin hujin dura,

¹² Waaqi Ribqa'aan, «Angafichi maandhicha tajaajila» jedhe.

¹³ Tun tama Barreeffam Woyyichi,

«Ani Yaaqoob jaaladhe,

Esaawu ammoo jibbe» jedhu.

¹⁴ Yoona maan jenna ree? Waaqi sirri'ii moti jedhuu dandeennaa? Ijjumaa hin dandeennu!

¹⁵ Waaqi Muuse'een, «Ani kama mararuu barbaadeef marara; kama nawuu barbaadeefille naya» jedhe.

¹⁶ Tanaaf, wonni marti marartii Waaqaa qofa irratti hundootti malee, waan nami fedhu yookiin godhu irrattii moti.

¹⁷ Barreeffam Woyyichi, marroo mooticha Fara'oonii yenna dubbatu, «Maqaan kiyya biyya lafaa mara keessatti akka lallabamuu fi hunni tiyya si'iin akka mudhattuuf ani mootii si godhe» jedha.

¹⁸ Maarre Waaqi nama fedhe marara, nama fedhelle mataa jabeessa.

Mararti'ii Fi Mufii Waaqaa

¹⁹ Isin keessaa nami tokko, «Yoo akkana teete, Waaqi attam dande'ee balleessaa nama irratti dhagga? Fedhii Waaqaa eentu mormuu dande'a?» anaan hin jedha fa'a.

²⁰ Namana! Waaqa woliin moromiisaaf ati eennu? Okkoteen faaraa nama isii dhoween, «Maaf akkana na dhootte?» jedhuu dandeetti?

²¹ Nami faara dhowu tokko, loobaa faaraa tokkochuma irraa, meya tokkocha ulfinnaaf, kaan woma te'eef akka te'u godhee dhowiisaaf baallii hin qabuu?

²² Wonni Waaqi godhelle tanaan wol fakkaatti. Inni hunna ifi beessisiisaa fi mufii ifi mudhisiisaaf barbaade. Ammoo worra mufii isaa jala jiru, ka badi'iif qophowe san ciniinnatee ossate.

²³ Worra ulfinna ifiitiif dursee qopheesse, ka akka marartiin isaa irratti mudhattu itti dhangalaaseefille, ulfinna ifi guddaa mudhisuu barbaade.

²⁴ Worri inni waame nu fa'aayyu; inni worra Yihudootaa qofa keessaa adoo hin te'in, worra Yihudoota hin te'inille keessaa waameera.

²⁵ Inni kitaaba Hose'aa keessatti,

«Worra kolbaa tiyya hin te'in,

«Kolbaa tiyya» jedhee hin waama;

kolbaa hin jaalatannelle,

«Jaalatantuu tiyya» jedhee hin waama.

²⁶ Adduma, «Isin kolbaa tiyyaa moti» jedhamanetti,

«Ijoollee Waaqa jiraata'aa» jedhamanee

hin waamaman» jedha.

²⁷ Isaayaasille marroo Israa'elii qoonqoo ol qabatee, «Laakkossi kolbaa Israa'elii akka maansa abbaayaa qarqaraa yoo heddatelle, worruma diqqaa qofatti fayya;

²⁸ Gootaan adoo hin turin ariifatee kolbaa biyya lafaa maratti hin mura» jedheera.

²⁹ Akkasuma Isaayaas duraan dursee, «Gootaan Waan Mara Dade adoo sanyii garii nu'uuf hamburruu dhabe, sila akkuma qachooti Sodoomiitii fi Gomora'aa badane banneerra» jedheera.

Israa'elii Fi Oduu Gammadaa

³⁰ Yoona maan jennuu ree? Worri Yihudoota hin te'in, ka balchummaa hin hordofin, balchummaa dhaggate; balchummaan tun ammoo ta dhugeeffanna'aan dhaggantu.

³¹ Israa'eliin Seera balchummaa fidu hordofaa turte ammoo, seera muummessiisa waan hin dande'iniif balchummaa bira hin geenne.

³² Maaf bira hin geyin? Sababille isaan dhugeeffanna'aan adoo hin te'in, huji'iin balchummaa dhaggatiisaaf barbaadane. Isaan dhakaa gufachiisuun gufatane.

³³ Tun tama Barreeffam Woyyichi,
«Kunoo, ani dhakaa kolbaa gufachiisu,
rassaa isaan jissu Xiyoon keessa hin keya,
ka itti dhugeeffatu ammoo hin qaanowu» jedhu.

10

¹ Obboleeyyan tiyya! Halchaan guddoon gadhaa kiyya keessa jirtuu fi daadimannaan ani gara Waaqaa daadimadhu akka kolbaan Israa'elii fayyitu.

² Isaan Waaqaaf akka ifi kennaneeranu ani dhugaa isaaniif baya; ammoo Waaqaaf ifi kenniis isaanii sun beekkumsa dhuga'aa irratti ka hundayeeruu moti.

³ Isaan karaa Waaqi kolbaa ittiin balchoonfatu wollaalanee, karaa ifiif baafatiisaaf wodhaanane; karaa Waaqi kolbaa ittiin balchoonsutti harka hin kennanne.

⁴ Nami Kiristoositti dhugeeffatu mara akka balchoomuuf, Seerri Kiristoosiin muummoweera.

Fayyinni Nama Maraaf

⁵ Muuseen marroo balchummaa Seeraaf ajajamiisaan dhaggantuu, «Nami Seera muummessu mara jiru'uun le'a» jedhee barreesseera.

⁶ Balchummaan dhugeeffanna'aan dhaggantu ammoo, «Gadhaa keeti keessatti, «Eentu ol-gubbaa baya?» hin jedhin; sun, Kiristoos gad fidiisa.

⁷ Yookiin, gadhaa keeti keessatti, «Eentu qile'etti gad bu'a?» hin jedhin; sunille, Kiristoos du'a keessaa ol fidiisa» jetti.

⁸ Ammoo maan jetti ree?
«Jechi Waaqaa si bira,
hidhii teeti irraa fi gadhaa keeti keessa jira» jetti.
Sunille, jecha dhugeeffanna'aa ka nuuti lallannu.

⁹ Yesuus Goottaa akka te'e, afaan keetiin yoo dhugaa baate, Waaqi du'a keessaa akka isa kaaselle, gadhaa keessatti yoo dhugeeffatte, ati hin fayyita.

¹⁰ Nami gadhaa keessatti dhugeeffatee balchooma; afaaniin dhugaa bayee fayya.

¹¹ Barreeffam Woyyichi, «Nami isatti dhugeeffatu hin qaanowu» jedha.

¹² Worra Yihudootaati fi Yihudoota hin te'in odduu garaagarummaan hin jirtu; Waaqi Goottaa nama maraa ti; worra isa waammatu maraaf eebba guddaa kenna.

¹³ Sababille Barreeffam Woyyichi, «Nami maqaa Gootta'aa waammatu mara hin fayya» jedha.

¹⁴ Ammoo yoo itti hin dhugeeffatin attam waammatuu dande'a? Marroo isaa adoo hin dhage'in attam itti dhugeeffatan ree? Adoo nami itti hin lallabin attamiin dhage'uu dande'an ree?

¹⁵ Nami lallabu yoo ergame malee, attamiin lallabuu dande'a ree? Barreeffam Woyyichi, «Worri Oduu Gammadaa fidee dhufu, attam attam nama gammachiisa!» jedha.

¹⁶ Ammoo worra garii malee marti isaanii Oduu Gammadaa hin fudhanne. Isaayaasinuu, «Gootta'a, eentu waan nuuti jenne dhugeeffate?» jedha.

¹⁷ Maarre, dhugeeffannaan Oduu Gammadaa dhage'iisa irraa dhutti; Oduun Gammadaalle karaa jecha Kiristoosiitiin dhutti.

¹⁸ Ani ammoo, isaan dhugumaan hin dhageennee? Jedhee gaafadha. Dhugumaan isaan dhage'aneeran; sababille Barreeffam Woyyichi, «Qoonqoon isaanii lafa maratti dhage'ante;

dubbiin isaaniille haga qaccee biyya lafaa dhaqqadde» jedha.

¹⁹ Ani ammalle, kolbaan Israa'elii hin hubannee? Jedhee gaafadha. Duraan dursee Muuseen,

«Kolbaa tuffatante hinaassisee, isin gaabbisiisa; kolbaa gowwitti'illeen isin aarsa» jedheera.

²⁰ Isaayaasille,

«Ani worra ana hin barbaadiniif dhaggameera; worra «Waaqi eessa jira» jedhee ana hin gaafatiniifille mudhadheera» jedhee sodaa malee dubbateera.

²¹ Marroo Israa'elii ammoo, «Kolbaa finqiltu'uu fi ta hin ajajanneef, ani harka kiyya guyyaa guutuu badhiseera» jedha.

11

Marartii Waaqi Israa'eliif Qabu

¹ Ani hin gaafadha: Waaqi kolbaa ifii gateeraa ree? Ijjumaa hin ganne! Aninuu nama Israa'elii ti; sanyii Abrahaamii keessaa gosa Beniyaamii ti.

² Waaqi kolbaa dursee fooyate hin ganne. Marroo Eliyaasii, ka Israa'eliin mormee Waaqa itti daadimatee, waan Barreeffam Woyyichi jedhu, isin hin beettanuu?

³ Inni, «Gootta'a! Isaan raagota teeti ijjeesaneeran, addee ciinca'aa keeti diiganeeran; na qofatti hafe; lubbuu tiyyalle barbaadiisatti jiran» jedha.

⁴ Deebiin Waaqi isaaf kenne ta maan jettu? «Ani namoota waaqa dharaa ka Ba'aali jedhamuuf hin jilbiiffanne kuma torba ifiif hamburadheera» ta jettu.

⁵ Bara ammaa kanalle akkasuma baraareen Waaqi badhaadha ifitiin fooyate hin jirti.

⁶ Fooyati isaa waan isaan hujaneeranu irratti adoo hin te'in, badhaadha isaa irratti hundaya. Yoo fooyati Waaqaa waan kolbaan hujju irratti hundaye, badhaadhi isaa badhaadha dhuga'aa te'uu hin dande'u.

⁷ Maan te'inna ree? Kolbaan Israa'elii waan barbaaddu hin dhagganne. Worri dhaggatane worra diqqaa Waaqi fooyate qofaayyu; worri kuun waamicha Waaqaatiif gurra duudane.

⁸ Tunille tama Barreeffam Woyyichi, «Waaqi qalbi'ii fi gadhaa isaanii dilleesse; haga adhaalle ilaan hin dhagganu; gurralle'een hin dhage'anu» jedhu.

⁹ Daawitille, «Qoriin isaanii tiyyoo qadduu fi gufuu itti teetee isaan farrisiittu.

¹⁰ Akka hin dhaggine ilti isaanii dukkanoottu;

goorri* isaaniille yennaa mara rakko'oon gad gogu» jedhu.

¹¹ Ammalle ani hin gaafadha: Yihudooti yennaa gufatane, akka jiganeef hafanuuf ree? Ijjumaa waawwo'o; sababa Yihudooti Seera cassaneef worri Yihudoota hin te'in fayyinna dhaggate; worra Yihudoota hin te'in irratti akka Yihudooti hinaafanuuf tun teete.

¹² Seera cassiisi Yihudootaa biyya lafaatiif eebba guddaa yoo te'e, jinnanni isaaniille worra Yihudoota hin te'iniif durummaa yoo te'e, adoo Yihudooti fayyanee fa'a eebba caalu attamiititti te'a ree!

Fayyinna Worra Yihudoota Hin Te'inii

¹³ Ani amma isin worra Yihudoota hin te'initti dubbadha: ani ergamaa worra Yihudoota hin te'inii akkuma te'etti, hujii tiyyatti hin boona.

¹⁴ Gosa tiyya hinaassisee, isii keessaa gariin akka fayyitu godhiisaaf tana godha.

¹⁵ Yennaa Waaqi isaan gate, eega kolbaan biyya lafaa ta dhibiin Waaqa woliin araarante, yennaa Waaqi isaan fudhatu maanti te'inna laati? Tun qixxee du'aa ka'iisaa ti!

¹⁶ Bukoo takkaa irraa diqqoon isi'ii mataa godhantee, Waaqaaf kennante yoo woyyoonte, bukoon duudiinuu woyyuu teeti; akkasuma hiddi muka tokkoolle Waaqaaf kennamee yoo woyyoome, dameeleelle woyyuu hin teeti.

¹⁷ Dameeleen ejersa ficha'atti dhaabamee yoo caccadde, dameelee ejersa badda'aa itti qabachiisan. Isin worri Yihudoota hin te'in akka ejersa bada'aa san, eebba isaanii worra goodamu yoo teetane,

¹⁸ Yihudoota akka dameele'ee caccabane san irratti hin koorina'a. Yoo koortane ammoo isin dameelee qofa waan teetaneef, hiddi isin ba'ata malee, isin hidda ba'atuu akka hin dandeenne qaabadha'a.

¹⁹ Ati ammoo, «Akka ani addee isi'ii bu'ee itti qabadhuuf† dameeleen sun caccadde» hin jetta fa'a.

²⁰ Sun dhuga'a. Isaan waan dhugeeffatiisa dhabaneef caccabane, ati ammoo waan dhugeeffatteef jabaattee dhaabbatte. Maarre sodaadha'a malee, hin koorina'a.

²¹ Waaqi Yihudoota dameelee dadante te'ane yoo adde'etti hin lakkisin, adde'etti si lakkisa jettee yaadattaa?

²² Asitti Waaqi attam akka gadhaa laafuu fi attam akka gadhaa jabaatu dhaggina. Inni worra jiganelatti gadhaa jabaata, ati gadhi laafummaa isaatiin ka jabaattee jiraattu yoo teete si'iif ammoo gadhaa laafa. Ammoo ati yoo gadhi laafummaa isaatiin jabaattee hin jiraatin, atille irraa hin caccadda.

²³ Yihudootille yoo dhugeeffatiisa dhaba isaanii lakkisane, isaan addee dur jiranutti hin deebi'an; sababille Waaqi san godhiisaaf dande'a.

²⁴ Isin worri Yihudoota hin te'in, ka dameelee ejersa badda'aa ta caccadde teetane, ejersaa ficha'atti dhabametti qassiifamuu yoo dandeettane, Yihudooti dadamaan dameelee ejersa ficha'a te'ane, addee ifii duriititti deebi'ane attam qassiifamuu dadhaban ree!

Marartiin Waaqaa Nama Maraaf

²⁵ Obboleeyyan tiyya! Dhugaan dhossa'aa ta akka isin beettanuuf ani barbaadu takkatti jira; isiin, nuuti qaroole'e jettanee yaadiisa irraa isin eeddi. Mataa jabeenni kolbaa Israa'elii akkanumatti hin turu; ammoo worri Yihudoota hin te'in mara gara Waaqaa haga dhufanu qofa tura.

²⁶ Maarre kolbaan Israa'elii marti hin fayyiti. Barreeffam Woyyichi, «Fayyisaan Xiyoan irraa hin dhufa,

* **11:10** Goorri: Duddi † **11:19** Itti qabadhuuf: Fayyuuf

hammeenna sanyii Yaaqoobii irraa hin balleessa.

²⁷ Ani yennaa cubbuu isaanii isaan irraa fuudhu,
gondooroo tana isaan woliin gondooradha» jedha.

²⁸ Yihudooti Oduu Gammadaa waan hin fudhatiniif, bu'aa teessaniif jedhane diinota Waaqaa te'aneeran. Karaa filanno'ootiin ammoo, sababa abbootii isaaniiitiif jaalota Waaqaa ti.

²⁹ Kennansaa fi waamichi Waaqaa hin jijjiiramu.

³⁰ Isin worri Yihudoota hin te'in kanaan dura worra Waaqaaf hin ajajanne; amma ammoo worri Yihudootaa waan ajajamuu didaneef isin marartii Waaqaa dhaggattane.

³¹ Akkuma isin marartii dhaggattane, isaaniille marartii dhaggatiisaaf, amma ka Waaqaaf hin ajajanne te'aneeran.

³² Waaqi nama maraaf marartii mudhisiisaaf jedhee, ajajamuu diduu jalatti kolbaan mara ta hidhante akka teetu godhe.

Galata Waaqaa Gale

³³ Durummaan Waaqaa attam attam guddo'o! Beekkumaa fi qarummaan isaa attam attam gad fagaatti! Muraa isaa qorqoriisa eentu dande'a? Karaa isaa eentu hubatiisa dande'a?

³⁴ Barreeffam Woyyichi,

«Yaada Gootta'aa eentu beeka?

Yookiin eentu gorsa isaaf kennu'uu dande'a ree?

³⁵ Yookiin akka inni deebisee isaaf kennuuf,
eentu kennansa Waaqaaf kenneera ree?» jedha.

³⁶ Sababille wonni maraa isaan dadamee,
karaa isaatii fi isaaf jiraata.

Ulfinni haga bara baraa isaaf te'u! Ameen!

12

Le'ii Waaqa Tajaajiliisaaf Malte

¹ Maarre obboleeyyan tiyya! Namummaa keessan, ciincaa Waaqa gammachiisu, jiraata'aa fi woyyicha gootanee akka dhikeessitanu, marartii Waaqaatiin isin kadhada; waaqonfannaan dhugittiin* isii tana.

² Fedhiin Waaqaa dansitti'ii fi ta isa gammachiitu, ta mijuu teete beekiisa akka dandeettanu, qalbii teessan haaressiisaan jiruun teessan jijjiirantuuti malee, biyya lafaa tana hin fakkaatina'a.

³ Akkasuma isin martinuu qixxee Waaqi dhugeeffannaa isinii kenneetitti ifi gad qabiisaan yaadadha'a malee, haga isinii malteen irra ifi jajiisaan marroo teessaniif hin yaadatina'a jedhee, badhaadha naa kennameen isinii hima.

⁴ Nuuti nafa keenna tokkocha irratti mitikaa hedduu qanna; mitikaan kun martinuu hujii adda addaa qaba.

⁵ Maarre nuutille, adoo hedduu teenee jirruu, Kiristoosiin nafa tokkocha; mitikoota nafa tokkochaa akkuma teenetti wol qabanneerra.

⁶ Akka Badhaadha Waaqi nuuf kenneetitti nuuti kennansa gara garaa qanna. Kennansi keenna raaga raagu yoo te'e, qixxee dhugeeffannaa qannuutitti raannuu ti;

⁷ kennansi keenna worra dhibii tajaajiluu yoo te'e, jabaannee tajaajilluu ti; kennansi keenna barsiisiisa yoo te'e, akka maltetti barsiinnuu ti;

⁸ kennansi keenna gorsiisa yoo te'e, gorsinuu ti; kennansi keenna arjoomuu yoo te'e, gadha'aan arjoonnuu ti; kennansi keenna bulchiisa yoo te'e,

jabaannee bulchinuu ti; kennansi keenna mararuu yoo te'e, gammadaan mararruu ti;

⁹ Jaalalli keessan dhugaamessa te'uu ti. Waan hantuu jibba'a; waan dansaa jabeessa'aa qabadha'a;

¹⁰ Akka obboleeyyanii o'isa'aatii wol jaaladha'a; ulfinna woliif kenniisaaf wol doggoma'a.

¹¹ Jabaadha'aa huja'a malee, gadhee hin te'ina'a. Ayyaana finiineen Gootaa tajaajila'a.

¹² Addii qaddanuun gammada'a; rakkinna ossadha'a; yennaa mara daadi-madha'a.

¹³ Kolbaan Waaqaa wo dhaddee yennaa rakkatu waan qaddanu isaan woliin qoodama'a; keessummoota fudhadha'a.

¹⁴ Worra isin miidhu eebbisa'a; eebbisa'a malee hin abaarina'a.

¹⁵ Worra gammadu woliin gammada'a; worra bowu woliin bowa'a.

¹⁶ Yaada tokkoon wolii gala'aatii le'a; ifi ol qabiisa lakkisa'aatii worra gadee woliin le'a; nuuti beekkole'e jedhaa ifi hin saadina'a.

¹⁷ Fuula nama maraa duratti waan dansaa godha'a malee, yennaa namooti hantuu isin irratti hujanu, isinille deebittanee hantuu itti hin hujina'a.

¹⁸ Yoo dande'ame nama maraa woliin nageyaan le'iisaaf, gama keessaniin waan dande'amu mara godha'a.

¹⁹ Jaalota tiyya! Mufiin Waaqaa haluu baatuutii malee, isin ijjumaa haluu hin bayina'a. Barreeffam Woyyichi, «Ka haluu bawuu fi ka gatii halu'uu kaffalu ana jedha Gootaan Waaqi» jedha.

²⁰ Addee haluu baatu, akkuma Barreeffam Woyyichi, «Diinni keeti yoo beelote, nyaachis, yoo dheebote obaas; Yoo akkas goote qaani'iin akka gubatu goota» jedhu tolchi.

²¹ Hantuu dansa'aan injifadhu malee, hantuun si hin injifatin.

13

Worra Baallii Qabuuf Ajajamiisa

¹ Nami marti worra baallii qabuuf ajajamuu qaba! Sababille baalliin fedha Waaqaatiin malee, hin kennantu; worri amma baallii qabulle Waaqaan muudame.

² Tanaaf nami worra baallii qabu mormu, waan Waaqi ajaje morma; nami mormulle mura'a ifi irratti fida.

³ Worra waan hantuu huju malee, worri waan dansaa huju bulchitoota hin sodaatanu. Ati worra baallii qabu akka hin sodaanne barbaaddaa? Waan dansaa huji; galatalle isaan irraa hin dhaggatta.

⁴ Worri baallii qabu tajaajiltoota Waaqaa ka waan dansaa si'iif godhanu. Ammoo yoo waan hantuu hujje, isaan sodaadhu; sababille isaan worra tolima shallaagaa hidhateeruu moti. Isaan tajaajiltoota Waaqaa, ka mufii Waaqaa mudhisiisaaf, worra hantuu huju adabanu.

⁵ Tanaaf nami adabbii Waaqaa qofaaf adoo hin te'in, sababa wodana'aatiif jedhee worra baallii qabuuf ajajamuu qaba.

⁶ Isin tanaaf gibiralle gabbartan; worri baallii qabulle yennaa waan kana hujii irra oolchu Waaqaaf hujiisatti jira.

⁷ Waan isaan isin irraa dhaggachu'uuf malane, kenna'aaf; ka gibirri maleef gibira, ka qaraxi maleef qaraxa, ka sodaan malteef sodaa, ka ulfinni maleef ulfinna kenna'a.

Wol Jaalatuu

⁸ Beenya'a eennuulle hin qabaatina'a; beenyaan isin qabaatuu qaddanu wol jaalatiisa qofa te'uu ti; nami nama jaalatu Seera muummesseera.

⁹ Ajajooti, «Hin gaarayyeffatin; hin ijjeesin; hin hatin; hin kajeelin» jedhanuu fi ka dhibiin martinuu, ajaja, «Akka ifi jaalattu nama jaaladhu» jedhuun wolitti qabameera.

¹⁰ Nami nama jaalatu, waan hantuu isa irratti ijjumaa hin godhu; tanaaf, nama jaalachuun Seera guutu'u.

¹¹ Yennaan isin hirriibaa dammaxxanu akka geetteertu waan beettanuuf, tana godhuu qaddan. Sababille yennaa itti dhugeeffanne caalaa guyyaan itti fayyinu amma gara keenna dhikaateera.

¹² Halkan dabariisa geyeera; guyyaalle dhikaateera. Tanaaf kowa'a hujii dukkanaa lakkinnee, meya woraanaa ka ifaa uffanna.

¹³ Akka kolbaa ifa guyya'aa keessa leetuutitti, amala keenna miidhaffannuu ti malee, quufanee ficiqqisu'uun yookiin machi'iin, sagaagalaan yookiin fariisa'aan, lolaan yookiin hinaaffa'aan hin te'in.

¹⁴ Gootaa Yesuus Kiristoos akka wo'ya'aa uffadha'a malee, halchaa foonii guutatiisaaf hin yaadatina'a.

14

Namatti Hin Murin

¹ Nama dhugeeffanna'aan dadhabeeru ifitti qabadha'a malee, yaada isaa irratti isa waliin hin mormina'a.

² Nami gariin dhugeeffannaa waan mara nyaachittu qaba; nami dhugeeffanna'aan dadhaba'aa ammoo waan ficha'atti dhaabamu* qofa nyaata.

³ Nami waan mara nyaatu ka hin nyaanne hin tuffatin; ka waan ficha'atti dhaabamu qofa nyaatu ka waan mara nyaatu irratti hin murin; sababille Waaqi isalle ifitti qabateera.

⁴ Ati ka tajaajilaa nama dhibi'ii irratti murtu eennu? Inni yoo dhaabbate, yookiin yoo jige ka murteessu Gootaa isaa ti. Waan Gootaan isa dhaabbachiisuu dande'uuf, inni hin dhaabbata.

⁵ Nami tokko guyyaan tokko guyyoota kaan caala jedhee yaada; kuun guyyooti martinuu wol qixxe'e jedhee yaada. Waan akkasii irratti namuu waan qalbiin isaa fudhatte godhuu ti.

⁶ Nami guyyaan tokko guyyoota kaan caala jedhee yaadu ulfinna Goota'aatiif jedhee tana godha. Nami waan mara nyaatulle, sababa sagale'eetiif waan Waaqa galateeffatuuf, ulfinna Goota'aatiif nyaata. Ka waan tokko tokko nyaatiisa didu, ulfinna Waaqaatiif dida. Innille Waaqa galateeffata.

⁷ Nuuti ifiif hin jiraannu; ifiifille hin duunu.

⁸ Yoo jiraanne, Goota'aaf jiraanna; yoo duunelle, Goota'aaf duuna; tanaaf, duunulle yookiin jiraannulle, nuuti ka Goota'aa ti.

⁹ Tanaaf Kiristoos Gootaa worra du'eetii fi worra jiruu te'iisaaf, du'ee deebi'ee ka'e.

¹⁰ Ati maaf obboleessa keetitti murta ree? Maaf obboleessa keeti tuffatta ree? Nuuti martinuu barcumaa muraa Waaqaa dura hin dhaabbanna.

¹¹ Sababille Barreeffam Woyyichi,
«Dhugumaan Ani Waaqa jiraata'a! Nami marti na duratti hin jilbiiffata;
arrabi martinuu akka ani Waaqa te'e dhugaa baasee hin dubbata» jedha
Gootaan» jedha.

¹² Maarre tokko tokkoon keenna waan gooneef Waaqaaf deebii hin kennina.

* 14:2 Waan ficha'atti dhaabamu: Kuduraa 14:6 Qol. 2:16 14:10 2 Qor. 5:10

Worra Dhibii Hin Gufachiisin

¹³ Maarre wol wolitti muriisa lakkinnuu ti. Addee san waan worra dhibii gufachiisu yookiin cubbu'utti jissu tokkolle ijjumaa akka hin hunye murteeffadha'a.

¹⁴ Ani karaa Goottaa Yesuusiitiin te'ee sagaleen takkaalle ifii isi'iitiin battii akka hin te'in beekeera; ati ammoo sagaleen gariin akka battitti'iititti yoo dhugeeffatte, isiin battii si'iif teeti.

¹⁵ Waan nyaattuun obboleessa keeti ka miitu yoo teete, ati nama jaalalaan le'uu moti. Sagaleen ati nyaattu nama Kiristoos du'eef sababa badi'ii akka teetu hin godhin.

¹⁶ Waan isin akka waan dansa'aatitti herreddanu maqaan badaan itti hin kennamin.

¹⁷ Mootummaan Waaqaa mootummaa balchumma'aa, nageyaatii fi gammada Ayyaanni Woyyichi kennuu ti malee, mootummaa nyaataatii fi uniisaatii moti.

¹⁸ Nami akka kanaan Kiristoos tajaajilu, Waaqa gammachiisa, namoota biralle'etti fudhatama dhaggata.

¹⁹ Maarre kowa'a waan nageya buusuu fi tokkummaa ijaaru hordofanna.

²⁰ Sagale'eef jettee, hujii Waaqaa hin diigin. Sagaleen martinuu hin nyaatanti, ammoo waan ati nyaatuun worri dhibiin gufachuun dokonkora.

²¹ Foon nyaatuu yookiin daadhii woyni'ii unuu yookiin waan obboleessa keeti gufachiisu hujiisa dhabuun dansa'a.

²² Marroo waan kanaa dhugeeffannaa qaddu, ifii fi Waaqa oddu'utti eegadhu. Nami waan wonni kun sirri'i jedhee itti dhugeessu yennaa godhu wodanaan isaa isa hin komanne ka badhaadhe.

²³ Ammoo yoo isaan marroo waan nyaatanuu mama qabaatane, hujiin isaanii dhugeeffanna'aan waan hin te'iniif, yennaa nyaatane Waaqi isaanitti mura. Wonni dhugeeffanna'aan hin te'in maraa cubbu'u.

15

Ifi Adoo Hin Te'in Worra Dhibii Gammachiis

¹ Nuuti worri dhugeeffanna'aan jajjaba teene, ba'aa worra dadhaboole'ee ba'atuu qanna malee, ifi gammachiisuu hin qannu.

² Tokko tokkoon keenaa akka nami dhibiin dhugeeffannaa ifitiin jabaatu*, dansaa isaatiif isa gammachiisuu qanna.

³ Kiristoos ifi hin gammachiinne; ammoo, akkuma Barreeffam Woyyichi, «Arraba ittiin si arrassanetti na dhaqqabe» jedhutti isa irratti muummowe.

⁴ Ossaa fi jajjabeenna Barreeffam Woyyichi nuuf kennuun addii akka qabaannu, wonni Barreeffama Woyyicha keessatti barreeffamane marti nu barsiisu'uuf barreeffante.

⁵⁻⁶ Waaqi, ossaa fi jajjabeenna namaaf kennu, yaada tokko qabaattanee, fakkeenna Yesuus Kiristoosii hordottanee, addee tokko qoonqoo takka'aan, Waaqa Abbaa Yesuus Kiristoosii akka leellifattanu isin dandeessisu.

Oduun Gammadaa Worra Yihudoota Hin Te'iniif

⁷ Akkuma Kiristoos isin fudhate, isinille ulfinna Waaqaatiif wol fudhadha'a.

⁸ Waadaan Waaqi abbootii isaaniitii gale akka muummowuu fi Waaqi addatamaa akka te'e mudhisiisaaf, Kiristoos tajaajilaa Yihudootaa akka te'e, ani isinitti hima.

⁹ Akkasuma worri Yihudoota hin te'inille marartii isaatiif, Waaqa akka leellisuuf tajaajilaa isaanii te'e; kunille kama Barreeffam Woyyichi,

* **15:2 Jabaatu:** Yookiin ijaaramu

«Tanaaf ani worra Yihudoota hin te'in oddu'utti
si hin leellisa;
maqaa keetiifille faaruu hin faarfadha» jedhu.

¹⁰ Ammalle Barreeffam Woyyichi,
«Isin worri worra Yihudootaa hin te'in,
kolbaa isaa woliin gammada'a» jedha.

¹¹ Ammalle,
«Worri Yihudoota hin te'in marti,
Gootaa galateeffadha'a;
kolbaan marti, isa galateeffadha'a!» jedha.

¹² Akkasuma Isaayaasille,
«Ka sanyii Iseyii keessaa dhalatu hin dhufa;
inni worra Yihudoota hin te'in bulchiisaaf hin ka'a;
isaanille isa hin addatan» jedha.

¹³ Addiin teessan hunna Ayyaana Woyyichaatiin ittuma akka guddattu,
Waaqi addii namaaf kennu, isatti dhugeeffachuu keessaniin, gammadaa fi
nageya maraan isin guutuu ti.

Sababa Phawuloos Sodaa Malee Barreesse

¹⁴ Obboleeyyan tiyya! Dansa'aan akka guutantaneertanu, beekkumsa
maraayyuu akka qaddanuu fi wol barsiisuu akka dandeettanu, mama tokko
malee aninuu hubadheera.

¹⁵ Badhaadhi Waaqaa waan naaf kenneef, marroo waan tokko tokkoo isin
yaadachiisu'uuf sodaa malee isinii barreesseera.

¹⁶ Badhaadhi kunille, akka ani Oduu Gammadaa, ta Waaqaa, worra
Yihudoota hin te'iniif lallabiisaan akka hayyichaa te'ee, Yesuus Kiristoos
tajaajiluuf naa kenname. Tanaaf worri Yihudoota hin te'in ka Ayyaana
Woyyichaan woyyoomee fi kennaa Waaqa gammachiisu te'ee akka dhikaatu
tajaajila.

¹⁷ Karaa Kiristoos Yesuusiitiin Waaqa tajaajiliisa kiyyaan ani hin boona.

¹⁸ Worri Yihudoota hin te'in dubbi'ii fi hujii tiyyaan akka Waaqaaf aja-
jamanu, waan Kiristoos karaa kiyyaan godhe qofa malee waan tokkolle
dubbatiisaaf ani ila hin jabaadhu.

¹⁹ Akkasuma hunna bilbaasotaatii fi baasotaatiin, hunna Ayyaana
Waaqaatile'een, Yersaalemii jalqabee haga Iliirigumiititti, Oduu
Gammadaa ta Kiristoosii guutama guutu'utti lallabeera.

²⁰ Halchaan tiyya ta yennaa maraa hundee nami dhibiin buuse irratti
ijaaruu adoo hin te'in, addee Kiristoos hin dhage'amin maratti Oduu Gam-
madaa lallabiisa.

²¹ Ammoo, tun tama,
«Worri marroo isaa isaanitti hin himamin hin dhaggan;
worri hin dhage'in hin hubatan» jedhantee barreeffante.

Phawuloos Roomaa Dhaqiisaaf Yaadate

²² Sababa kanaaf ani yennaa hedduu isin bira dhufiisa dhooggame.

²³ Amma ammoo adaala kana keessaa hujii tiyya waan fixadheeruu fi
dhufee isin ilaaliisaafille woggaa hedduu dharra'aa waan tureeruuf,

²⁴ yennaa gara Isphaaniyaa dhaqu goree isin ilaaliisaaf karoofadheera.
Yennaa diqqoo isin dhaggiisaan gammadeen duuba, akka ani ittiin achi
dhaquuf qarqaarsa akka naa gootanu hin addadha.

²⁵ Ammaa tana ammoo, kolbaa Waaqaa ta achi jirtu tajaajiliisaaf† ani gara
Yersaalemii deemiisatti jira.

† 15:25 Tajaajiliisaaf: Yookiin qarqaarsa beese'ee geessiisaaf

²⁶ Wolde'i kiristaanaa ka Maqedooniya'aatii fi Akaayya'aa, hiyyeeyyii Yerusaalem keessatti kolbaa Waaqaa odduu jirtuuf, qarqaarsa kenniisaaf murteeffataneeran.

²⁷ Murteen tama isaanii ti; ammoo dhuguma isaan, isaan qarqaaruu qaban; eega Yihudooti eebba Ayyaana Waaqaa irraa dhaggatane worra Yihudoota hin te'in woliin qoodamane, worri Yihudoota hin te'inille eebba jiruu fooniitiin dhaggataneen Yihudoota qarqaaruu qaban.

²⁸ Maarre, ani yennaa hujii tana fixe, beesee isaaniif wolitti qabante maraayyuu isaanii kenneen duuba, Isphaaniyaa dhaqaara; yennaa achi dhaqu goree isin ilaala.

²⁹ Yennaa gara keessan dhufu, eebbaa Kiristoosii guutumaa guutu'utti fidee akka dhufu ani hin beeka.

³⁰ Obboleeyyan tiyya! Gootaa keenna Yesuus Kiristoosiin, jaalala Ayyaanni Woyyichi nuu kennelle'een, na woliin itti cittanee‡ akka naaf daadimattanu isin magannifadha.

³¹ Akka ani miidhaa worra hin dhugeeffannee, ka Yihudaa keessaa irraa fayyuu fi tajaajilli kiyya Yerusaalem keessatti kolbaa Waaqaa ta achiitiif fudhatamaa akka te'u daadimadha'a.

³² Maarre anille fedhii Waaqaa yoo teete, gammadaan gara keessan dhufee, isin dhaggee isin woliin hin haareffama.

³³ Waaqi, maddi nageya keennaa, isin mara woliin jiraatu. Ameen.

16

Nageya Ergame

¹ Obboleettii teenna Feebeen, ta wolde'a kiristaanaa ka Kanchire'aa keessa tajaajiltu, nama dansaa akka teete akka beettanu barbaada.

² Akkuma kolbaa Waaqaatiif maltetti, maqaa Goota'aatiin isii fudhadha'a! Isiin kolbaa heddu'uu fi analle waan qarqaarteertuuf, qarqaarsa isiin isin irraa barbaaddu maraayyuu isi'iif kenna'a.

³ Worra hujii Kiristoos Yesuusii na woliin huje, Phirisqiila'aa fi Aqiila'atti nageya naaf hima'a.

⁴ Isaan jireenna isaanii naaf kennaneeran. Ani isaan galateeffadha; na calla'aa motii wolde'i kiristaanaa ka worra Yihudoota hin te'inille martinuu isaan galateeffatan.

⁵ Wolde'a mana isaanii keessatti wolitti qabamulle'etti nageya naaf hima'a. Jaala kiyya jaalatamaa, biyya Asiya'aa keessaa dursee Kiristoositti dhugeeffate Ephanexositti nageya naaf hima'a.

⁶ Maariyaamii isiniif jabeennaan hujjetti, nageya naa hima'a.

⁷ Yihudoota na woliin hidhamanee turane Andironikosii fi Yuniyaasitti nageya naaf hima'a; isaan ergantoota oddu'utti worra beekkamee fi worra anaan dura kiristaana te'eeru.

⁸ Jaala kiyya jaalatamaa Goota'aan jaaladhu, Aphiliyaaxositti nageya naaf hima'a.

⁹ Jaala kiyya jaalatamaa Isxaakisii fi Urbaanosii karaa Kiristoosiitiin nu woliin hujutti nageya naaf hima'a.

¹⁰ Aphelesii Kiristoositti dhugeeffatiis isaa mirkaneeffametti nageya naaf hima'a. Worra maatii Arisxobulosii te'elle'etti nageya naaf hima'a.

¹¹ Herodiyoonii akkuma kiyya Yihudii te'etti nageya naaf hima'a. Worra maatii Naarkisosii keessaa kiristaana te'etti nageya naaf hima'a.

¹² Worra tajaajila hujii Gootta'aa huju, Tiriifeenee fi Tiriiphaase'etti nageya naaf hima'a. Hujii Gootta'aa guddoo ta hujje, jaalatantuu jaala tiyya Pharsiisille'etti nageya naaf hima'a.

¹³ Ruufoosii hujii Gootta'aatii filamee fi haadha isaa, ta yenna mara akka ilmaatitti ana ilaaltetti nageya naaf hima'a.

¹⁴ Asinkiriixositti, Filegoonitti, Hermeesitti, Phaaxrobaasitti, Hermaasii fi kiristaanota dhibii isaan woliin jiranu maratti nageya naaf hima'a.

¹⁵ Filogosii fi Yuliya'atti, Neryoosii fi obboleettii isaatitti, Olimphaasii fi kolbaa Waaqaa worra isaan woliin jiranu maratti nageya naaf hima'a.

¹⁶ Sunqaa obbolumma'aatiin nageya wol fuudha'a. Wolde'ooti Kiristoosii marti nageya isinii dhaaman.

Gorsa Gara Dhumaarratti Kenname

¹⁷ Obboleeyyan tiyya! Worra barnoota isin fudhattaneen mormiisaan, dhugeeffannaa kolba'aalle garagalchuu fi sababa gargar qoqoodamiisaa te'u irraa akka ifi eegattanu isin gorsa. Isaan irraa fagaadha'a!

¹⁸ Worri waan akkasii godhu kun halchaa nyaata ifitiif malee, Kiristoosii Goottaa keennaaf hin hujanu. Dubbii ifii damma dibiisaa fi sossobiisaan kolbaa gadhaa babadhattu gowwoonfatan.

¹⁹ Nami marti Wongeelaaf ajajamuu keessan dhage'eera; sababa kanaafille ani marroo teessaniif hin gammada. Marroo waan dansa'aatiif qaroo, marroo waan hantu'uutiif ammoo gowwoolee akka teetanu ani barbaada.

²⁰ Maddi nageya keennaa, Waaqille, dafee Seexana miila keessan jalatti hin butucha. Badhaadhi Goottaa keenna Yesuus Kiristoosii isin woliin jiraatu.

²¹ Ana woliin ka huju, Ximootewoos akkasuma Yihudooti akka kiyyaa Luukiyoos, Yaasonii fi Soosiiphaaxroos nageya isiniif dhaaman.

²² Ani Xirxiwoosiin Phawuloos himaaruun xalayaa kana barreesse, Gootta'an te'ee nageya isiniif dhaama.

²³ Keessummeessaan kiyya Gaayos, ka mana isaa keessatti wolde'i kiristaana wolitti qabamu, nageya isiniif dhaama. Qabataan beesee qacha'aa, Eraasxoos fi obboleessi keenna Ku'arxoos, nageya isiniif dhaaman.

²⁴ Badhaadhi Goottaa keenna Yesuus Kiristoosii isin mara woliin jiraatu.*

Leellisiisaan Muummeffatuu

²⁵ Ulfinna Waaqaaf kenninuu ti! Akka Wongeela ani marroo Yesuus Kiristoosii lallabeetitti, akka mudhachuu dhossaa dhugittii bara duriitii jalqaddee hin mudhatin turtelle'etti, inni dhugeeffanna teessaniin akka isin jabaattanee dhaabbattanu godhuu dande'a.

²⁶ Te'uu male, amma, karaa kitaaba raagoti barreessaneen dhossaan tun ifatti baateerti; martinuu dhugeeffatee akka ajajamu, ajaja Waaqa bara baratiin kolbaa maratti akka beekamu godhameera.

²⁷ Karaa Yesuus Kiristoosiitiin, Waaqa qofuu qarichaaf, bara baraan ulfinni te'u.

Ergaa Phawuloos Gara Worra Qorontoosii Erge Ta Qaraa Seensa

Ergaan Phawuloos gara Worra Qorontoosii erge ta qaraa wolde'a kiristaanaa ka Phawuloos lafa Qorontoosiititti ijaare keessatti dhugeeffannaa'aa fi jiruu kiristaanaa irratti rakkoo kaateef fala kenniisaaf ta barreeffante. Yennaa san Qorontoos qachaa Giriikii ka addunyaa maraati; lafa Akaayaa jedhantu ta bulchiinsa Rooma'aa jala jirtuufille qachaa guddicha. Qachaan kun guddinna daldalaatiin, guddinna aada'aatiin, amala badaa babadhatiisatti jiruu fi bacatiisa dhugeeffanna'aatiin ka beekkame.

Ergamaan keessattuu marroo gargar bayiisaa fi jireenna amala bada'aa ka wolde'a kiristaanaa keessa jiruu, marroo sagaagalaa fi fuudhaa heerumaa, marroo yaada wodana'aa, marroo seera wolde'a kiristaanaa, marroo kennansa Ayyaana Woyyichaatii fi du'aa ka'iisaa irratti xiyyeeffata. Inni huban-tii guddoon, deebii Oduun Gammadaa gaaffii tanaaf kennitu mudhisa.

Foorri kudha sadeesso'oo ka kennansa Waaqi kolbaa ifitiif kenne keessaa jaalalli ka caalu akka te'e mudhisu, kitaaba kana keessatti addee akka malee beekkante akka teeteetitti yaadatama.

Haadhoo Dubbi'ii

Seensa1:1-9

Gargar bayiisa wolde'a kiristaanaa keessatti ka'e1:10—4:21

Sagaalummaa'aa fi Wol Himatiisa5:1—6:1

Fuudhaa fi Heeruma Kiristaanaa7:1-40

Kiristaanotaa fi worra Kiristaanota hin te'in8:1—11:1

Le'ii wolde'a Kiristaanaatii fi waaqonfannaa11:2—14:40

Du'aa ka'iisa Kiristoosiitii fi kiristaanaa15:1-58

Kennansa Kiristaanota lafa Yihuda'aatiif dhikaate16:1-4

Haajaa isaatii fi yaada buufataa16:5-24

¹ Ana Phawuloosii fedha Waaqaatiin ergamaa Yesuus Kiristoosii akka te'uuf waamamee fi obboleessa keenna Sostenees irraa:

² Wolde'a kiristaanaa ka Waaqaa ka qachaa Qorontoosii keessa jiruuf, worra Yesuus Kiristoosiin woyyoontanee fi ka isaa te'iisaaf* waamantane, akkasuma isaanii fi nu'uuf Goottaa ka te'e, worra maqaa Goottaa keenna Yesuus Kiristoosii addee gara garaatitti waammattanu maraaf:

³ Waaqi Abbaan keennaa fi Goottaan keenna Yesuus Kiristoos badhaadhaa fi nageya isiniif kennu.

Waaqa Galateeffachuu

⁴ Waaqi karaa Yesuus Kiristoosiitiin badhaadha ifii waan isinii kenneef ani yennaa maraa isa galateeffadha.

⁵ Isin Kiristoosiin waan maraan waan dubbattanuu fi beekkumsaan duroontaneertan.

⁶ Wonni nuuti marroo Kiristoosiitiif dhugaa baane, isin biratti hidda horattee jabaatteerti.

⁷ Tanaaf mudhatiisa Goottaa keenna Yesuus Kiristoosii adoo eeggattanuu, Kennansi Ayyaanaa tokkolle isin irraa hin dhidhanne.

* 1:2 Ka isaa te'iisaaf: Isaa fooyamiisaaf

⁸ Haga guyyaa dhufa Goottaa keenna Yesuus Kiristoosiititti worra komii hin qanne teetanee akka jiraattanu, inni jabaattanee akka jiraattanu isin tolcha.

⁹ Ilma isaa Goottaa keenna Yesuus Kiristoos woliin, tokkummaa akka qabaattanu ka isin waame Waaqi addatama'a.

Gargar Bayiisa Wolde'a Kiristaanaa Keessa Jiru

¹⁰ Obboleeyyan tiyya, gargar bayiisi odduu teessanitti hin jiraatin; isin duudiin waan dubbattanutti akka wolii galтанu, yaadaa fi akeettii takka'aan jabaattanee akka leetanu maqaa Goottaa keenna Yesuus Kiristoosiitiin isin gorsa.

¹¹ Obboleeyyan tiyya, wol dhabi odduu teessanitti akka jiru, maatiin Kilo'ee natti himaneeran.

¹² Kunille isin tokkoon tokkoon keessan, «Ani ka Phawuloosii ti»; ka dhibiin, «Ani ka Apholoosii ti»; kuun, «Ani ka Pheexroosii ti»; ka biraa, «Ani ka Kiristoosii ti» jettan.

¹³ Kiristoos gargar qoodameeraa ree? Fannoo irratti isiniif ka du'e Phawuloosii? Yookiin isin maqaa Phawuloosiitiin cuuphantanee?

¹⁴ Kiriisphosii fi Gaayos malee, isin keessaa nama tokkolle waan hin cuuphiniif ani Waaqa galateeffadha.

¹⁵ Tanaaf nami tokkolle, «Maqaa Phawuloosiitiin cuuphantaneertan» jedhiisa hin dande'u.

¹⁶ Ee, ani Isxifaanosii fi maatii isaalle cuupheera; kana malee nama dhibii ka cuupheeru hin qaabadhu.

¹⁷ Kiristoos akka ani Oduu Gammadaa lallabuuf ana erge malee, akka cuuphuuf na hin ergine. Fannifamuun Kiristoosii akka hunna hin dhanne, Oduu Gammadaa ka lallabaaru qarummaa namaatiinii moti.

Kiristoos Hunnaa fi Qarummaa Waaqaa ti

¹⁸ Ergaan fannifamuu Kiristoosii worra baduuf gowwumma'a; nu worra fayyuuf ammoo hunna Waaqaa ti.

¹⁹ Barreeffama Woyyicha keessatti,
«Ani qarummaa worra qaroole'ee hin balleessa;
beekkumsa beekkole'eelle gatii hin dhoogga» jedha.

²⁰ Maarre garoon meet? Beekaan guddaan hore eessa jira? Ka waan lafa tanaa qorqoru hore meet? Waaqi qarummaa lafa tanaa gowwummaa tolchee hin jiruu?

²¹ Waaqi akka worri lafa tanaa qarummaa ifitiin isa hin beenne waan godheef, barsiisa akka gowwumma'aatitti laakkowamu ka nuuti lallannu worra dhugeeffatu fayyisiisaaf fedhii Waaqaa te'eera.

²² Yihudooti bilbaasa dhagguu fedhan, Giriikootille qarummaa barbaadan.

²³ Nuuti ammoo Kiristoosii fannifame lallanna. Kun Yihudootaaf gufu'uu, worra Yihudoota hin te'iniifille gowwumma'a.

²⁴ Ammoo worra Waaqi waame, worra Yihudootaatiif fi worra Giriikootaatiif Kiristoos hunna Waaqaatiif fi qarummaa Waaqaa ti.

²⁵ Wonni gowwummaa Waaqaa fakkaattu qarummaa namaa hin caalti; wonni dadhabbii Waaqaa fakkaattulle hunna nama hin caalti.

²⁶ Obboleeyyan tiyya, yennaa Waaqi isin waame nama attamii akka teetane qaabadha'a. Akka yaada namaatitti isin keessaa worri hedduun qaroolee, yookiin jajjaba, yookiin worra gugurda'aa moti.

²⁷ Waaqi ammoo qaroolee qaanessu'uuf, worra biyya lafaatitti akka gowwoole'ee laakkowamanu fowate; worra jajjaba qaanessu'uuf worra biyya lafaatitti akka dadhaboole'ee laakkowamanu fowate.

²⁸ Waaqi, waan worra biyya lafaa biratti barbaachisa'a jedhamee ilaalamu akka hin jirre godhiisaaf, waan biyya lafaatitti gadi qabamee fi tuffatamee, woyittuu hin laakkowanne fowate.

²⁹ Eennulle fuula Waaqaa duratti akka ifi hin jajneef inni tana godhe.

³⁰ Isin ammoo Waaqi akka Kiristoos woliin tokkummaa qabaattanu godhe. Tanaaf Waaqi, akka Yesuus Kiristoos qarummaa teenna, balchummaa teenna, woyyumma'aa fi wodoo keenna te'u godhe.

³¹ Maarre Barreeffam Woyyichi, «Ka ifi jaju Goota'aan ifi jaju ti» jedha.

2

Marroo Kiristoosii Fannifamee Barsiisuu

¹ Obboleeyyan tiyya, ani yennaa gara keessan dhufe jechoota gugurda'aa fi qarumma'aan dhossaa Waaqaa isinitti hin lallanne.

² Ani haga isin bira ture Yesuus Kiristoosii fannoo irratti fannifame malee, waan dhibii waan tokkolle beekuu dhabiisaaf murteeffadheera.

³ Ani dadhabaa te'ee, soda'aan akka malee rorommaa gara keessan dhufe.

⁴ Haasonni kiyyaa fi lallabi kiyya ayyaanaa fi hunna Waaqaa mudhisiisaan malee, jechoota qarummaa namaatiinii moti.

⁵ Dhugeeffannaan teessan qarummaa namaa irratti adoo hin te'in hunna Waaqaa irratti ta hundoote akka teetuuf ani tana godhe.

Qarummaa Waaqaa

⁶ Teetuu malee worra ayyaanaan bilchaateef jecha qarumma'aatiin barsiinna. Qarummaan tun ammoo ta biyya lafaa yookiin muummee irratti ta badu qarummaa bulchitoota lafa tanaatii moti.

⁷ Nuuti ammoo biyyi lafaa adoo hin dadamin duratti ulfinna keennaaf qarummaa Waaqi qopheessee fi dhossaa isi'ii ta dhokattee turte dubbanna.

⁸ Bulchitoota biyya lafa tana keessaa qarummaa tana ka beeke tokkolle hin jiru. Adoo beekanee jiraatane, Gootaa ulfinnaa hin fannisanuuyyu.

⁹ Teetuu malee Barreeffam Woyyichi,

«Waan ilti namaa hin dhaggin,

Waan gurri namaa hin dhage'in,

Waan gadhaan namaa hin yaadatin

Waaqi worra isa jaalatanuuf qopheesseera» jedha.

¹⁰ Waaqi ammoo karaa ayyaana ifitiin dhossaa ifii nutti mudhiseera. Ayyaanni Waaqaa waan duudii, dhossaa Waaqaa ta gadi fago'ootuu hin qorqora.

¹¹ Waan nama tokko keessa jiru mara ayyaanuma nama san keessa jiruttuu beeka malee, nami dhibiin hin beeku. Akkasuma ayyaana Waaqaa malee, marroo Waaqaa ka beeku eennulle hin jiru.

¹² Waan Waaqa irraa nuu kenname akka beennuuf, Ayyaana Waaqaa fudhanne malee, ayyaana biyya lafa tanaa hin fudhanne.

¹³ Tanaaf nuuti dhugaa ayyaanaa ayyaantole'eef ka barsiisaarru, qarummaa Ayyaana Waaqaa irraa dhaggantuun malee, qarummaa nama irraa dhaggantuunii moti.

¹⁴ Nami Ayyaana Waaqaa hin qanne gowwummaa waan itti fakkaattuuf, kennansa ayyaana Waaqaa irraa kennamu hin fudhatu; kennansi sun ka qorqoramu Ayyaana Waaqaatiin waan te'eef hubatiisaaf hin dande'u.

¹⁵ Nami Ayyaana Waaqa qabu waan duudii qorqora; inni ammoo ifiif eennulle'een hin qorqoramu.

¹⁶ Barreeffam Woyyichi,
«Yaada Gootta'aa ka beeku eennu?
Ka gorsa isaa kennu eennu?» jedha.
Nuuti ammoo, qalbii Kiristoosii qanna.

3

Gargar Bayiisa Wolde'a kiristaanaa Keessatti Ka'e

¹ Obboleeyyan tiyya, ani yennaa isin barsiise akka worra yaada foonii gula deemutii fi Kiristoosiin daa'immaaniititti malee, akka ayyaantole'eetittii moti.

² Isin sagalee jadduu nyaatiisa waan hin geyiniif, aanan isin areere malee sagalee jajjadduu moti. Ammaan tanalle sagalee jajjadduu nyaatiisa hin geenne.

³ Isin haga ammaa akka worra biyya lafaa worra fedhii foonii gula deemu; isin waan wol hinaattanu fi wol mormitanuuf, worra fedhii foonii gula deemu motii ree? Akka yaada namaatitti leetanii motii ree?

⁴ Isin keessaa tokko, «Ani ka Phawuloosii ti;» ka dhibiille, «Ani ka Apholoosii ti» yennaa jedhu, isin akka worra biyya lafaa te'uu keessanii motii ree?

⁵ Inni Apholoos eennu? Phawuloosille eennu? Nuuti akka Gootaan hujii ifii nutti kennetti, tajaajiltoota akka isin dhugeeffattanu goone.

⁶ Ani midhaan dhaabe, Apholoos bisaan obaase, ka guddise ammoo Waaqa.

⁷ Tanaaf Waaqa isa guddise malee, ka dhaabe yookiin ka bisaan obaase womaayyuu moti.

⁸ Ka dhaabee fi ka bisaan obaase wol qixa. Namuu akkuma hujii ifiititti gatii ifii fudhata.

⁹ Nuuti tajaajiltoota wolqabannee Waaqaaf hujaarru; isin ficha'aa fi ijaarsa Waaqaa ti.

¹⁰ Akka badhaadha Waaqi naa kennetti akka nama qaricha mana ijaaru tokkoo ani hundee hundeesse; ka dhibiin hundee ani hundeesse irratti ijaara. Ammoo nami tokko tokkooyyuu achi irratti attam akka ijaaru ifi eegatu qaba.

¹¹ Hundee yennaa tokko hundootte malee, eennulle hundee dhibii hundeesiisa hin dande'u. Hundeen tunille Yesuus Kiristoos.

¹² Nami hundee tana irratti worqi'in, meeti'in*, dhakaa gatii guddo'ootiin, muka, buyyo'oon yookiin huuraan ka ijaaru yoo jiraate,

¹³ guyyaan mura'aa ka hujiin nama tokko tokkootuu ifatti baatu hin dhufa; guyyaa san hujiin nama tokko tokkootuu ta attamii akka teete ibiddaan haga ilaalantee mudhatti.

¹⁴ Hujiin namichi mana ijaaru hundee san irratti huje, ibiddaan haga ilaallatantee adoo hin gubatin yoo hatte inni gatii ifii hin fudhata.

¹⁵ Namichi mana ijaaru ka hujiin isaa gubatee baddu ammoo gatii ifii hin dhaba; teetuu malee inni ifiif akka nama ibidda keessa taree hin gubatin hafuu hin fayya.

¹⁶ Isin galma Waaqaa akka teetanee fi Ayyaanni Waaqaa isin keessa akka jiru hin beettanu?

¹⁷ Nami galma Waaqaa yoo diige, Waaqi isa hin diiga. Sababille galmi Waaqaa woyyicha, galma kunille isinuma.

* **3:12 Meeti'in:** Birrii sibiilaatiin

¹⁸ Eennulle ifi hin sobin. Nami isin keessaa akka yaada biyya lafaatitti qaroo ifi sewu yoo jiraate, dhugumaan qaroo te'iisaaf akka gowwa'aa ifi laakkowuu ti.

¹⁹ Qarummaan biyya lafa tanaa fuula Waaqaa duratti gowwumma'a. Kunille Barreeffam Woyyichi, «Waaqi qaroolee qarummaa isaaniitiinuu isaan qaba» jedha;

²⁰ Barreeffam Woyyichi dhibiille, «Gootaan yaadi worra qaroolee ka woy hin baane akka te'e hin beeka» jedha.

²¹ Tanaaf wonni marti teessan waan teeteef eennulle namaan ifi hin jajin.

²² Maarre Phawuloosille teenaan, Apholoosille teenaan, Pheexroosille teenaan, biyya lafaalle teenaan, jireennalle teenaan, du'alle teenaan, waan ammaalle teenaan, waan hegeriille teenaan wonni duudiin keessan.

²³ Isin ammoo ka Kiristoosii ti; Kiristoosille ka Waaqaa ti.

4

Ergantoota Kiristoosii

¹ Namooti akka tajaajiltoota Kiristoosiititti worra dhossaa Waaqaa mudhisiisaaf itti gaafatamummaan itti kennante akka teenetti nu laakkowuu qaban.

² Itti gaafatantooti gootaa isaaniitiif addatamuu qaban.

³ Isin yookiin nami dhibiin akka ulaagaa* namaatitti yoo natti mure naaf womaa moti; aninuu ifi irratti muriisa hin dande'u.

⁴ Wodanaa kiyyaan waan ifi komadhu hin qabu, wonni kun ammoo dhugumaan akka ani qulluu† te'e hin mirkaneessitu. Ka na irratti muru Goota'a.

⁵ Tanaaf yennaan adoo hin geyin, Gootaan adoo hin dhufin eennulle'etti hin murina'a. Inni waan dukkana keessatti dhokate ifatti hin baasa; yaada gadhaa namaa keessatti dhokatelle diidatti hin baasa. Yennaan san nami martinuu galata isaaf male Waaqa irraa hin dhaggata.

⁶ Obboleeyyan tiyya, isiniif jedhee tana duudii Apholoosii fi ifi kiyyatti fakkeessee dubbadheera. Hiikkaan Jecha, «Waan barreeffame irra hin tarina'a jedhu» akka nu'u irraa barattanuuf ani tana godhe. Tanaaf eennulle nama tokkoon ifi jajee, nama dhibii tuffatuu hin qabu.

⁷ Ati worra dhibii maaniin caalta? Waan ati qaddu duudii ka si'ii kenne Waaqaa motii? Maarre yoo isa irraa fudhattee jiraatte, akka kennaa hin te'iniititti maaf ifi jajja?

⁸ Isin qaata waan barbaaddanu mara dhaggattane! Isin qaata duroontane! Nu'u malee isin qaata mootontane. Nuuti isin woliin akka mootonnu, adoo dhugumaan mootontane hin jaaladha.

⁹ Waaqi, nu'u ergantoota akka worra du'a itti muranee gara itti ijjeefamanu geeffamanuu, worra gadee waan nu godhe seya. Tanaaf biyya lafaa irratti ergantoota Waaqaatii fi fuula namaa duratti akka waan daaw'ii teenee mudhanna.

¹⁰ Nuuti Kiristoosiif jennee gowwoolee teeneerra; isin ammoo Kiristoosiin qaro'o; nuuti dadhaboole'e, isin ammoo jajjaba. Nuuti ulfinna dhanneerra, isin ammoo ulfeeffantaneertan.

¹¹ Haga ammaan tanaalle nuuti beelotaa, dheebotaa, daaraa, dikamaa, mana dhannee rakkataa,

¹² harka keennaan hujaa dadhabaarra. Yennaan nu abaaranu, nuuti hin eebbinna; yennaan nu miidhanu, nuuti hin ossina;

* **4:3** *Ulaagaa*: Seera ittiin dandeettii yookiin geyee nama tokkoo madaalanu yookiin ilaalanu † **4:4** *Qulluu*: Nama yakkaa hin qanne

¹³ yennaa nu arrassanu, nuuti waan dansaa deebinnaaf. Haga ammaan tanaalle nuuti kosi'ii fi caffaa biyya lafa ti.

¹⁴ Ani akka ijoollee tiyya jaalatanteetitti isin gorsiisaaf malee, isin qaanessiisaaf tana barreessiisatti hin jiru.

¹⁵ Isin Kiristoosiin abbootii guddisaa kuma kudhan yoo qabaatanelle, Abbaa tokko callaa qaddan. Ani Oduu Gammadaa barsiisee karaa Kiristoosiitiin abbaa keessan te'eera.

¹⁶ Tanaaf fakkeenna kiyya akka fudhattanu isin kadhada.

¹⁷ Sababa kanaaf ani ilma jaalatamaa kiyya, ka Kiristoosiin addatame Xi-mootewoos gara keessan erga. Inni karaa jiru'uu ka Kiristoosiin dhaggadhe, kama ani wolde'oota kiristaanaa addee maratti barsiisu isin yaadachiisa.

¹⁸ Isin keessaa gariin waan ani dhufee isin dhaggaa hin jirre seyanee, guddoo kooraneeran.

¹⁹ Yoo fedha Waaqaa teete ammoo, ani dhikoo tanattuu gara keessan dhufee, worri koorameeyyiin kun waan dubbatanu callaa adoo hin te'in hunna isaanille beekuu fedha.

²⁰ Sababille Mootummaan Waaqaa waan dubbi'ii adoo hin te'in hunna Waaqaa ti.

²¹ Kam feetan? Ulee fudhadhee isinitti dhufa moo, yookiin ayyaana jaalalaatii fi qajeelumma'aatiin isinitti dhufa?

5

Sagaagalummaa Wolde'a Kiristaanaa Keessatti Te'e

¹ Amma, sagaagalummaan worra Waaqa malee le'u oddu'uttuu hin godhamin, odduu teessanitti akka jirtu odeeffamaara. Nami niitii abbaa ifii haadiqqoo ifii akka niiti'ii godhateeru jira.

² Maarre, wonni fokkoo akkanaa odduu teessan jirtuun hin gadditan malee, attam koortan? Nama akkasii odduu teessaniin baasa'a.

³ Ani nafa kiyyaan isin bira jiraadhuu dhabulle, ayyaanaan haga ammaa isin bira jira; akka isin bira jiruutitti te'ee nama waan farra akkasii huje irratti maqaa Gootaa Yesuusiitiin ani itti mureera.

⁴ Yennaa isin maqaa Gootaa Yesuusiitiin wolitti dachaatanu anille hunna Gootaa Yesuusiitiin ayyaanaan odduu teessan waan jiruuf,

⁵ nafi namicha kanaa akka baduuf harka Seexanaatitti dabarsa'a isa kenna'a; guyyaa Gootaan Yesuus dhufu lubbuun* nama kanaa akka fayyituuf tana gootan.

⁶ Tanaaf ifi jajuun keessan dansa'aa moti. Uukoon diqqoon bukoo guddoo akka bukeessitu hin beettanuu?

⁷ Akkuma amma jirtanutti akka bukoo haareyaa ta uukoo ifi keessaa hin qannee akka teetanu, uukoo dullattii ifi keessaa gata'a. Hooleen Jila Irra Dabarama keennaa Kiristoos woreegameera.

⁸ Tanaaf Jila Irra Dabarama keennaa, uukoo dullattii ta cubbu'uu fi hammeenna qadduun adoo hin te'in, xaltaa qullumma'aatii fi dhuga'aatiin ka uukoo hin qanneen kowa'a ulfeessina.

⁹ Sagaagaltoota waliin tokkummaa hin qabaatina'a jedhee Xalayaa kanaan duraa keessatti ani isiniif barreesseera.

¹⁰ Akkas jechuun kiyya guutama guutu'utti worra Waaqa malee le'anu sagaagaltoota, yookiin joljoltoota, yookiin hattoota, yookiin worra waaqota dharaa waaqonsanuun hin lansoomina'a jechu'uu moti. Adoo akkas teetee jiraatte biyya lafaa keessaa bawuu qaddaniyyu.

¹¹ Ani ammoo nama ifiin ani dhugeeffadheera jedhaa sagaagalu, yookiin joljolu, yookiin waaqota dharaa waaqonsu, yookiin maqaa namaa balleessu, yookiin machowu, yookiin hatuun hin lansoomina'a jedhee isinii barreesse. Nama akkanaa wolille'een hin nyaatina'a.

¹² Worra tokkummaa wolde'a kiristaanaa keessa hin jiretti muriis hujii tiyyaa ree? Worra tokkummaa wolde'a kiristaanaa keessan keessa jirutti isin muruu hin dandeettanuu ree?

¹³ Worra ala jirutti ka muru Waaqa. Barreeffam Woyyichi, «Nama hamaa wodhakkaa teessaniin baasa'a» jedha.

6

Wol Himannaa Wolde'a Kiristaanaa Odduu Jiru Balleessuu

¹ Isin keessaa nami tokko dhugeeffataa dhibi'iin yoo wol dhabe, dubbii san kolbaa Waaqaa duratti ilaaluu irra, attam gara Kora Mura'aa ka worra hin balchoomii dhaqiisaaf gantan ree?

² Kolbaan Waaqaa biyya lafaa irratti akka muru'uu jirtu hin beettanuu? Maarre, biyya lafaa irratti ka murtanu yoo teetane, waan diqqoo akkanaatitti attam muruu dadhaddan?

³ Nuuti ergantoota Waaqaa irratti akka murru hin beettanuu? Irra caalaa waan biyya lafaatitti attam amma muruu dhanna ree?

⁴ Eegasuu yoo wol dhaddane dubbii teessan worri wolde'a kiristaanaa keessatti hin barbaachinne akka isinii muru attam itti geeffattan ree?

⁵ Akka isin fokkifattanuuf ani tana jedhaara. Nami qaroon wol dhaba obboleeyyaniititti muru wodhakkaa teessan hin jiruu?

⁶ Isin keessaa ammoo dhugeeffataan tokko ka dhibi'iin wol dhabe gara Kora Mura'aa ka worra hin dhugeeffatinii geessuu qabaa?

⁷ Isin wol himattanee falmatiisinuu jigiisa keessan mudhitti. Addee san adoo isin yakkantanee hin woyyuu? Akkasuma adoo saamantanee woyyaa motii?

⁸ Isin ammoo kiristaana obboleeyyan teessanuuyyuu yakkitanee saamaartan.

⁹ Jallaameyyiin Mootummaa Waaqaa akka hin dhaalle hin beettanuu? Hin sobamina'a! Sagaagaltooti yookiin worri waaqota dharaa waaqonsu, yookiin gaarayyeffattooti, yookiin dhiirti dhiira bukkoonsitu,

¹⁰ yookiin hattooti yookiin joljoltooti, yookiin ka machowu yookiin worri maqaa namaa balleessu, yookiin worri saamu Mootummaa Waaqaa hin dhaalu.

¹¹ Isin keessaa gariin worra akkanaa turtane. Isin ammoo maqaa Goottaa Yesuus Kiristoosiitii fi Ayyaana Waaqa keennaatiin cubbuu dhiqattanee, kolbaa Waaqaa teetane balchoontaneertan.

Nafa Ifii Ulfinna Waaqaatiif Oolchuu

¹² Nami tokko «Wonni marti naaf eeyyatanteerti» jedhuu dande'a. Wonni marti ammoo bu'aa qaddi jechu'uu moti. Wonni marti naa eeyyatanteerti, teetuu malee waan maraaf garba te'ee hin bitamu.

¹³ Nami dhibiin, «Sagaleen gadha'aaf, gadhaalle sagale'eef» jedhuu dande'a. Waaqi ammoo waan kana lamaanuu hin balleessa. Nafi keenna Goottaa tajaajilu'uuf, Goottaalle nafa kunuunsu'uuf malee, nafa sagaagalaaf itti fayyadamuu hin qannu.

¹⁴ Waaqi Goottaa du'aa kaaseera; innille hunna ifitiin du'aa nu hin kaasa.

¹⁵ Nafi keessan mitikaa nafa Kiristoosii akka te'e hin beettanuu? Maarre ani mitikaa nafa Kiristoosii fuudhee mitikaa sagaagaltu'uu godhuu qabaa? Ijjumaa te'uu hin qabu!

¹⁶ Nami dubartii sagaagaltitti'iin wolitti maxxane nafi isaa ka isi'iitiin tokko akka te'e hin beettanuu? Barreeffam Woyyichi, «Isaan lamaanuu foon tokkocha te'an» jedha.

¹⁷ Nami Gootta'atti ifi maxxanse ayyaanaan isa woliin tokko te'a.

¹⁸ Sagaagalummaa irraa fagaadha'a. Cubbuun dhibiin nami huju nafa namaa hin tuxxu; nami sagaagalu ammoo nafa ifii irratti cubbuu huja.

¹⁹ Nafi keessan galma Ayyaana Woyyicha Waaqi isiniif kennee, ka isin keessa jiraatuu akka te'e hin beettanuu? Yoona isin ka Waaqaa ti malee ka mataa keessaniitii moti.

²⁰ Waaqi gati'iin isin bitate. Maarre nafa keessaniin Waaqa ulfeessa'a.

7

Gaaffii Marroo Fuudhaa fi Heeruma Kiristaanaa

¹ Marroo gaaffii gara kiyya barreessitanee dhiirti dubartii adoo fuudhuu dhaddee dansa'a.

² Sagaagala irraa ifi eegatiisaaf ammoo, dhiirti tokko tokkoonuu niitii ifii qabaattuu ti; dubartiin tokko tokkoonuu dhirsa ifii qabaattuu ti.

³ Dhirsii haqa niitii ifii ka dhirsumma'aa hin dhooggatin; niitiille haqa dhirsa ifii ka niitumma'aa hin dhooggatin.

⁴ Niitiin nafa ifii irratti baallii hin qaddu; nafa isi'ii irratti baallii ka qabu dhirsa isi'ii ti. Akkasuma dhirsille nafa ifii irratti baallii hin qabu; nafa isaa irratti baallii ta qaddu niitii isaa ti.

⁵ Akka jabaattanee daadimattanuuf isin lamaanuu wolii galtanee yennaa murtootteef yoo teete malee, haqa dhirsaa fi niitumma'aa wol hin dhooggatin. Sababa kanaan ka ka'e ifi qabachuu dadhaddanee Seexanni akka isin hin ataanne, ammalle wolitti deebi'a'a.

⁶ Ani isiniif eeyyamiisaaf malee, isin ajajiisaafii moti.

⁷ Nami duudiin akkuma kiyya adoo niitii fuudhuu dhabe hin fedhaayyu. Waaqi ammoo nama tokko tokkoofuu kennaa adda addaa kenneera. Tokkoof kennaa tokko, kaaniif kennaa dhibii kenneera.

⁸ Amma worri hin fuudhinii fi hin heerumin, akkasuma haadhotiin hiyyeessaa akka kiyya fuudhaa fi heeruma malee adoo jiraatane dansa'a.

⁹ Ifi qabatiisa* yoo dadhabane ammoo, addee halchaa fooniitiin gubatanu fuudhuu woyya.

¹⁰ Worra fuudheef ajaja kennu qaba; ajaji kunille ka Gootta'aa ti malee kiyyaa moti. Dubartiin heerumte dhirsa ifii irraa gargar hin bayin;

¹¹ yoo baate ammoo, adoo hin heerumin qofuu leetuu ti; yookiin dhirsa ifii woliin araarantuu ti. Akkasuma dhirsille niitii ifii hin lakkisin.

¹² Worra dhibi'iin ammoo Goottaa adoo hin te'in, ani akkana jedha. Nami dhugeeffate tokko niitii hin dhugeeffatin yoo qabaatee isiin isa woliin le'iisa jaalatte, inni isii hin lakkisin.

¹³ Dubartiin dhugeeffatte takkalle dhirsa hin dhugeeffatin yoo qabaattee inni isii woliin le'iisa jaalate, isiin isa hin lakkisin.

¹⁴ Abbaan manaa ka hin dhugeeffatin karaa haadha manaa ta dhugeeffatteetiin Waaqaa biratti fudhatama qabaata; haati manaa ta hin dhugeeffatinille karaa abbaa manaa ka dhugeeffateetin Waaqa biratti fudhatama qabaatti. Yoo akkas te'uu dhadde, ijoolleen teessan nama Waaqaa te'uu hin

^{6:19} 1 Qor. 3:16; 2 Qor. 6:16 * ^{7:9} Ifi qabatiisa: Toowatiisa ^{7:11} Mat. 5:32; 19:9; Mar. 10:11-12; Luq. 16:18

dandeettu. Akka kana yoo leetane ammoo, ijoolleen teessan nama Waaqaa hin teeti.

¹⁵ Isin keessaa ka hin dhugeeffatin gargar bayiisa yoo fedhe bayuu ti. Dhirsi dhugeeffataa te'e yookiin niitiin dhugeeffattuu teete, haala akkasiitiin hin hidhamanu. Waaqi nageyaan akka leetanu isin waame.

¹⁶ Ati dubartii tana, dhirsa dhugeeffataa hin te'in keeti, takki fayyittuu beettaa? Atille namicha kana, niitii dhugeeffattuu hin te'in teeti, takki fayyittuu beettaa?

Akka Waaqi Waametti Jiraatuu

¹⁷ Tokko tokkoon keessan akkuma kennansa Gootaan isinii kennee fi akkuma yennaa Waaqi isin waame jirtanutti jiraadha'a. Kun seera ani wolde'a kiristaanaa duudii keessatti barsiisu.

¹⁸ Nami haqanqabaa qabateen duuba yoo Waaqaan waamame, akka haqanqabaa qabatee hin jirree hin te'in; yoo haqanqabaa qabatee hin jiraatin Waaqaan waamamee jiraate haqanqabaa qabatiisaa hin barbaadin.

¹⁹ Wonni guddoon ajaja Waaqaa eegatiisa malee, haqanqabaa qabatiis yookiin qabatuu dhabiis womaayyuu moti.

²⁰ Nami tokko tokkoonuu akka yennaa Waaqi isa waame jirutti le'uu qaba.

²¹ Yennaa Waaqi si waame garbummaa jala turtee? Yoo teetelle womaa moti. Carraa bilisa bayiisaa yoo dhaggatte ammoo si irra hin tarin.

²² Nami adoo garba te'eeruu Goota'aan waamame, Goota'aan bilisummaa dhaggateera; akkasuma nami adoo bilisa te'eeruu waamame Kirsitoosiif garbicha.

²³ Waaqi gati'iin waan isin bitateef, garboota namaa hin te'ina'a.

²⁴ Obboleeyyan tiyya! Nami tokko tokkonuu yennaa waamame akka jirutti Waaqa woliin jiraatuu ti.

Worra Hin Fuudhinii fi Hin Heerumin

²⁵ Amma marroo worra hin fuudhinii fi hin heerumin jiranuu, Gootaan ajaja naaf hin kennine. Ani ammoo, akka nama marartii Goota'aa dhaggaatee addatamaa te'etitti, yaada kiyya isinitti kenna.

²⁶ Yennaan amma keessa jirru rakkittuu waan iteeteef, nami akkuma jirutti adoo le'e dansaa natti fakkaatti.

²⁷ Yoo niitii fuutee jiraatte isii lakkisiisaa hin barbaadin, Yoo fuutee hin jirre ammoo fuudhiisaa hin barbaadin.

²⁸ Yoo fuute ammoo, cubbuu hujje jechuu kiyyaa moti; akkasuma durrittiin takka yoo heerumte cubbuu hujje jechuu kiyyaa moti. Te'uu malee worri fuudhuu fi heerumu biyya lafaa tana irratti rakkoo le'ii hedduu qabaatan; ani ammoo, rakkinna kana jalaa akka baatanuuf jedhee isin gorsa.

²⁹ Obboleeyyan tiyya! Wonni ani isiniin jedhu barri gabaabbateera; yoon worri niitii qabu akka niitii hin qannee te'ee le'uu ti.

³⁰ Worri gaddu akka hin gaddineetitti, worri gammadu akka hin gammanneetitti le'uu ti; worri meya bitatu akka womaa hin qannee te'uu ti.

³¹ Worri karra biyya lafaatitti fayyadamu akka womaa hin fayyadanee te'ee le'uu ti. Sababille biyyi lafaa tun hin tarti.

³² Ani akka isin yaaddoo malee leetanu fedha. Nami hin fuudhin waan ittiin Gootaa gammachiisu waan barbaaduuf, yaadi isaa hujii Goota'aa irratti xiyyeeffata.

³³ Nami fuudhe ammoo, niitii ifii gammachiisiisaa waan barbaaduuf, yaadi isaa waan biyya lafaatiif haajama.

³⁴ Akka kanaan yaadi isaa addee lamatti qoodameera. Dubartiin hin heerumin yookiin durrittiin takka nafaa fi ayyaanaan woyyoontee ta

Gootta'aa te'iisa waan barbaadduuf, yaadi isi'ii hujii Gootta'aatiif haajama; dubartiin heerumte ammoo, dhirsa ifii gammachiisiisaaf waan barbaadduuf waan biyya lafaatiif haajanti.

³⁵ Ani akka isiniif toltuuf tana jedhe malee, isin hidhiisaaf moti. Isin waan sirrii te'ee fi waan male hujaa, gadhaa tokkoon tajaajila Gootta'aatiif akka ifi kennitanu fedha.

³⁶ Nami tokko durra kadhateeru woliin wonni godhiisatti jiru sirrii yoo itti hin fakkaatin, ganni isi'iille dabariisa yoo geyee jiraate, woli fuudhiisi isaanille yoo sirrii itti fakkaatte akkuma fedhe san yoo fuudhe cubbuu itti hin teetu.

³⁷ Nami tokko ammoo, gadhaa kutatee, wonni isa dirqansiisu yoo hin jiraatin, halchaa ifille toowatiisa dande'ee, durrittii kadhateeru san fuudhuu dhabiisaaf yoo murteeffate dansaa godhe.

³⁸ Maarre nami fuudhu dansaa godha; ka hin fuune ammoo san caalaa dansaa godha.

³⁹ Haati manaa haga abbaan manaa isi'ii lubbu'uun jiru seera fuudhaa fi heerumaatiin hidhanteerti; yoo dhirsi irraa du'e ammoo, nama ifii feete heerumiisaaf isiin bilisa. Teetuu malee nami isiin heerumtu sun dhugeeffataa te'uu qaba.

⁴⁰ Akka yaada kiyyaatitti adoo hin heerumin yoo teette, irra caalaa gammadaan leeti. Anille Ayyaana Waaqaa qaba jedhee heda.

8

Horii Waaqota Dharaatiif Qalame

¹ Marroo horii waaqota dharaatiif qalamee gaaffii na gaafattane ilaalchisee:

Nuuti marti beekkumsa akka qannu hin beenna. Beekkumsi akkasii nama bondhoorsa; jaalalli ammoo hin jabeessa.

² Nami wo beeka ifiin jedhu, haga beeku'uu maleeyyuu hin beenne.

³ Nami Waaqa jaalatu ammoo Waaqaan ka beekkame te'a.

⁴ Maarre, marroo horii waaqota dharaatiif qalame nyaatiisaa yoo teete, waaqi dharaa dhugumaan jireenna akka hin qanne, akkasuma Waaqa tokkocha malee ka dhibiin akka hin jirre hin beenna.

⁵ Adoo Waaqa hin te'in waaqota jedhamanee, waaqotii fi goottoti waamanu hedduun ol-gubba'aa fi lafa irra jiran yoo jedhamanelle,

⁶ nu'uuf ammoo Waaqa tokkocha calla'atti jira. Inni Waaqa Abbaa wonni duuchiin isaan dadantee fi nuutille isaaf jiraannu; akkasuma Gootaan, Yesuus Kiristoos calla'a. Inni ka wonni duudiin karaa isaatiin dadantee fi ka nuuti karaa isaatiin jiraannu.

⁷ Nami marti ammoo dhugaa tana hin beeku. Worri gariin haga ammaa waaqota dharaa waqonfatiisa waan barataneef, foon horii qalamee san yennaa nyaatanu, akka foon waaqota dharaatiif qalameetitti yaadatan; wodanaan isaanille dadhabaa waan te'eef hin battowan.

⁸ Sagaleen gara Waaqaa nu hin dhiyeessitu; yoo nyaatuu dhanne womaa nu irraa hin dhidhatu; yoo nyaannelle womaa nu'uuf hin ede'amu.

⁹ Bilisummaan teessan tun ammoo, worra dhugeeffanna'aan hin jabaa-tiniif gufuu akka hin teene ifi eegadha'a.

¹⁰ Ani beekkumsa qaba jettee galma waaqota dharaa keessatti ati nyaatisatti jirtuun, nami wodanaan isaa dadhabaa te'e tokko yoo si dhagge, wonni kun akka inni horii waaqota dharaatiif qalame nyaatuuf isa hin kakkaachuu?

¹¹ Maarre nami dhugeeffanna'aan hin jabaatin, obboleessa keeti ka te'e, ka Kiristoos du'eef sababa beekkumsa keetiitiin bada.

¹² Karaa kanaan kiristaana dhibii yakkiisaa fi wodanaa isaanii dadhaba madeessiisaan Kiristoos yakkitan.

¹³ Tanaaf wonni ani nyaadhu obboleessa kiyya ta gufaachiittu yoo teete, isa akka hin gufachiinneef jedhee ijjumaa foon hin nyaadhu.

9

Mirga Ergantootaa

¹ Ani nama bilisummaa qabuu motii? Ani ergama'aa motii? Ani Goottaa keenna Yesuus hin dhagginee? Isin Gootta'aan bu'aa hujii tiyyaatii motii?

² Ergamaa te'uun kiyya worra dhibii biratti fudhatama dhabulle, ani isiniif ergama'a. Sababille, Gootta'atti waan dhugeeffattaneef isinuu beessisa ergamaa te'iisa kiyyaa ti.

³ Worra na busheeshuuf ani deebii qaba:

⁴ waan nyaannuu fi waan unnu dhaggatiisaaf mirga hin qannuu ree?

⁵ Akka Ergantoota dhibi'ii, akka obboleeyyan Gootta'aatii fi akka Pheexroosii, nuutille niitii dhugeeffatte ifi faana fudhannee woliin deemiisaaf mirga hin qannuu?

⁶ Yookiin anaa fi Baarnaabaas calla'attuu waan le'ii teennaatiif hujatuu qannaa?

⁷ Nami loltuu te'ee mindaa malee beesee ifitiin tajaajilu eennu? Nami muka woyni'ii dhaabee midhaan isi'ii hin nyaanne eennu? Nami horii tissaa aanan hin unne eennu?

⁸ Ani akka yaada namaa callaa kana jedhaaraa? Seerri Muuse'eetuu akkana hin jedhuu?

⁹ Seera Muuse'ee keessatti, «Qotiiyoo midhaan dhowiisatti jirtu afaan hin hidhin» ka jedhu barreeffameera. Amma Waaqi marroo qotiiyyo'ootiif haajamee tana jedhee?

¹⁰ Waaqi marroo teennaafii motii tana jedhe ree? Nami lafa qotuu fi nami midhaan dhowu qooda midhaanii dhaggadha jedhee akkuma addii godhatu, dhugumaan wonni kun marroo teennaaf barreeffante.

¹¹ Nuuti waan jireenna ayyaanaatiif barbaachisu isinii facaannee, waan jireenna fooniitiif barbaachisu isin irraa yoo haammanne waan guddo'oo ree?

¹² Worri dhibiinuu waan akkasii isin irraa dhaggatiisaaf mirga ka qabanu yoo teete, nuuti mirga kana caalu attam qabaatuu dhanna ree? Nuuti ammoo mirga kanatti hin fayyadanne. Oduu Gammadaa ta Kiristoosiitiif gufuu akka hin teeneef, nuuti waan mara ossanne.

¹³ Worri Galma Waaqaa keessa tajaajilu sagalee ifii Galma Waaqaa keessaa akka dhaggatuu fi worri addee ciinca'aatitti ciincaa dhikeessu qooda ciinca'aa akka dhaggatu hin beettanuu ree?

¹⁴ Akkasuma worri Oduu Gammadaa lallabu waan ittiin le'anuu hujii tana irraa akka dhaggatanu Gootaan ajajeera.

¹⁵ Ani ammoo mirga kana keessaa tokkole'etti hin fayyadanne; kana ka barreessaarulle akka tana naa gootanuufii moti. Waan ani ittiin ifi jaju nami gatii dhassiisu'uu mannaa du'u naa woyya.

¹⁶ Ani Oduu Gammadaa waan odeessee ifi jajuu hin qabu. Kana godhuun naaf dirqama; Oduu Gammadaa yoo lallabuu dhabe naaf aanne'e!

¹⁷ Fedha kiyyaan tana yoo godhe, gatii hin dhaggadha; fedha kiyya malee yoo godhe ammoo, hujii Waaqa biraa hadara'aan natti kennante muummesse jechu'u.

¹⁸ Gatiin dadhabbii tiyyaa maan ree? Gatiin dadhabbii tiyyaa mirga ifii qabu adoo itti hin fayyadamin, mindaa malee akkanumaan Oduu Gammadaa lallabu'u.

¹⁹ Ani nama bilisa malee, nama tokkole'eef garbaa moti; ammoo haga dande'ame worra hedduu fayyisiisaaf garba ifi godheera.

²⁰ Yihudoota fayyisiisaaf Yihudoota biratti akka Yihudootaa te'e. Ani seeraan jala jiraatuu dhabulle, worra seeraan jala jiru biratti akka nama seeraan jala jiruu te'e.

²¹ Ani Seera Waaqaa ka qabuu fi Seera Kiristoosiitiin jala jiraadhulle, worra Yihudoota hin te'in ka seera hin qanne fayyisiisaaf akka nama seera hin qannee te'e.

²² Worra dhugeeffanna'aan dadhabaa te'e fayyisiisaaf, akka worra dadhaba'aa te'e. Worra garii fayyisiisaaf nama duudii waliin waan duudii te'e.

²³ Ani eebba Wongeela qoodamiisaaf, Wongeelaaf jedhee tana duudii godha.

²⁴ Worri wol doggomu duudiin akka rukkisuu fi isaan keessaa tokkochi callaan badhaasa akka fudhatu hin beettanuu? Isinille akkasuma badhaasa akka dhaggattanuu rukkisa'a.

²⁵ Worri doggommo'oof qophowu mara leenjii jadduu leenji'a. Isaan badhaasa taree badu dhaggatiisaaf kana godhan; nuuti ammoo badhaasa bara baraa akka dhaggannuuf tana goona.

²⁶ Tanaaf ani akka nama yaada hin qannee toluma hin rukkisu; ani akka nama qilleensa tuntummu'uun dhowuu nama toluma aggatuu moti.

²⁷ Worra dhibi'iif Oduu Gammadaa lallabeen duuba, ani ifiif akka doggomiin ala hin teene, nafa kiyya adabaa akka naaf ajajamu godha.

10

Waaqota Dharaa Hin Waaqonfatina'a

¹ Obboleeyyan tiyya! Akka abbootii teenna duumensi isaaniin gubbaa jiraatee sooressee fi akka isaan martinuu abbaayaa diintuu keessa qaxxaa-murane isin qaabachiisuu fedha.

² Isaan duudiin hordofattoota Muuse'ee te'iisaaf duumensaa fi Abbaayaa guddoo tanatti cuuphamane.

³ Isaan martinuu sagalee ayyaanaa ta wol fakkaattu nyaatane.

⁴ Isaan martinuu unii ayyaanaa ta wol fakkaattu unaneeran. Uniin isaan unanelle rassaa ayyaanticha isaan hordofisatti jiru irraa maddite; rasaan sunille kiristoos.

⁵ Teetuu malee, Waaqi isaan keessaa worra heddu'utti waan hin gamma-diniif reeffi isaanii goomolee keessatti bittinnowee hafe.

⁶ Isaan waan hantuu akka halchane, nuutille waan hantuu akka hin halchine wonni kun nu'uuf fakkeenaa nu ifi eeggachiisu te'eera.

⁷ Akkuma Barreeffam Woyyichi, «Kolbaan nyaataa fi unto'oof teette; caaqaa sirbiisaafille kaate» jedhu, isinille akka isaan waaqota dharaa waaqonfatane, waaqota dharaa hin waaqonfatina'a.

⁸ Isaan keessaa worri gariin sagaagalee nami kum diddamii sad guyyaa tokkotti akkuma dhumate, nuutille sagaagaluu hin qannu.

⁹ Isaan keessaa gariin Gootaa haga ilaalane akkuma bofaan ijjeefamane, nuutille Gootaa haga ilaaluu hin qannu.

¹⁰ Isaan keessaa gariin gungumanee, ergamaa Waaqaa ka balleessuun akkuma badane isinille hin gungumina'a.

¹¹ Wonni kun duudiin nu'uuf fakkeenna akka teetuuf isaan dhaqqadde; nu worra bara muumme'ee keessa jirruuf ammoo, ifi eeggannoo akka teetuuf barreeffante.

¹² Tanaaf nami ani dhaabbadheera jedhee yaadatu, akka hin jinne ifi eegatuu ti.

¹³ Haga ilaallatam namatti dhufee hin beenne, isinitti hin dhunne. Waaqi addatamaa waan te'eef, akka hunna teessaniin ol haga ilaallatantannuuf isinitti hin lakkisu. Ammoo yennaa haga ilaallatantannu jabeenna ittiin ossattannu isinii kennaa, karaa keessaa baatanu isiniif qopheessa.

¹⁴ Maarre jaalota tiyya! Waaqota dharaa waaqonfatiisa irraa fagaadha'a.

¹⁵ Ani isin worra hubatu waan teetaneef dubbadha; waan ani dubbadhu isinuu mura'a.

¹⁶ Muduunuu yennaa Irbaata Gootta'aa fudhannu itti fayyadannu, ta Waaqalle galateeffannuuf keessaa yennaa unnu eebba dhiiga Kiristoosii fudhatiisatti jirraa motii? Daabboo caccaffannulle yennaa nyaannu eebba foon Kiristoosii fudhatiisatti jirraa motii?*

¹⁷ Daabboon takkaan waan jirtuuf, nuuti hedduu teenulle, duudiin keenna daabboo takkaa irraa waan goodannuuf nuuti nafa tokkocha.

¹⁸ Me kolbaa Israa'elii ilaala'a; worri waan ciinca'aaf dhikaatu nyaatu, tajaajila addee ciinca'aa goodamiisatti hin jiruu ree?

¹⁹ Eegasuu, ciincaan waaqota dharaatiif dhiyaatu, yookiin waaqoti dharaatuu bu'aa qaban jechuu kiyyaa ree?

²⁰ Waawwoo! Worri waaqota dharaa waaqonsu durriisaaf ciincaa dhi-keessa malee, Waaqaafii moti. Akka isin durriisota woliin jaalontannuufille ani hin barbaadu.

²¹ Isin muduunuu Gootta'aa keessaa unaa, muduunuu durriisotaa keessalle'ee unuu hin dandeettanu; isin qorii Gootta'aa keessaa nyaataa, qorii durriisotaa keessalle'ee nyaatuu hin dandeettanu.

²² Yookiin nuuti Goottaa hinaassisaarraa ree? Nuuti isa caalaa jajjabaa ree?

²³ «Wonni marti eeyyatanteerti» jedhama, ammoo wonni marti bu'aa hin qaddu. Wonni marti eeyyatanteerti; wonni marti ammoo hin jabeessitu†.

²⁴ Nami tokko tokkonuu bu'aa mataa ifii callaa barbaaduu adoo hin te'in, bu'aa worra dhibi'iitille'eef yaaduu ti.

²⁵ Mama wodanaa keessan keessaa ka'u lakkisa'aatii, foon dikko'otti gur-guramu duudii nyaadha'a.

²⁶ Sababille akkuma Barreeffam Woyyichi jedhutti, «Lafaa fi wonni isii irra jiru duudiin ka Gootta'aa ti».

²⁷ Nami hin dhugeeffatin tokko areerti'iif yoo isin waame, isinille dhaqi-isaaf yoo murteeffattane, waan isin duratti dhiyaate, mama wodanaa keessan keessaa ka'u lakkisa'aatii nyaadha'a.

²⁸ Ammoo nami tokko, «Kun waaqota dharaatiif ka ciinceffameeru» jedhee yoo isinitti hime, marroo namicha isinitti himeetii fi wodanaa isaatiif jedha'aatii hin nyaatina'a.

²⁹ Wodanaa jechuun kiyya, wodanaa namicha sanii tuqa jechuu kiyya malee, wodanaa keessanii moti.

* **10:16** Hiikkaan gariin: «Dhiiga Kiristoosii woliin tokkummaa ta qadduu motii ree? Daabboon nuuti irraa caffannee nyaannu foon Kiristoosii woliin tokkummaa ta qadduu motii ree?» jedha. **10:16** Mat. 26:26-28; Mar. 14:22-24; Luq. 22:19-20 † **10:23** *Hin jabeessitu*: Hin ijaartu **10:23** 1 Qor. 6:12

Eegasuu sababa wodanaa nama dhibi'iitiif, bilisummaa tiyya irratti maaf muranti ree?

³⁰ Ani Waaqa galateeffataa yoo nyaadhe, waan ittiin Waaqa galateeffad-huuf maaf komatama?

³¹ Maarre yennaa nyaattanulle te'e yennaa untanu, yookiin waan gootanu mara ulfinna Waaqaatiif godha'a.

³² Worra Yihudootaa yookiin worra Yihudoota hin te'in yookiin wolde'a Kiristaana Waaqaa hin gufachiisina'a.

³³ Ani nami duudiin akka fayyuuf bu'aa worra dhibi'ii malee, bu'aa mataa kiyyaa adoo hin barbaadin, waan huju maraan nama akkuma gammachiisu isinille akkasuma godha'a.

11

¹ Akkuma ani Kiristoos fakkaadhu isinille na fakkaadha'a.

Waaqonfannaa Malte

² Waan duudi'in yennaa maraa na qaabataa, barsiisa ani isin barsiise waan qabattaneef isin leellifadha.

³ Ammoo Kiristoos mataa dhiiraa, dhiirti mataa dubarti'ii, Waaqille mataa Kiristoosii akka te'e akka beettanu barbaada.

⁴ Dhiirti hagooggatee daadimattu yookiin raaga dubbattu ifi salphitti.

⁵ Akkasuma dubartiin mataa ifii hin hagooggatin daadimattu yookiin raaga dubbattu, dhiira dubartii irratti baallii qaddu salphitti. Dubartiin mataa ifii hin hagooggatin, akka mataa haadatteetitti laakkowanti.

⁶ Dubartiin mataa ifii ta hin hagoogganne yoo teete, rifeensa mataa ifii murattuu ti; rifeensa mata'aa muratiis yookiin haadatiis ka isii salphisu yoo te'e ammoo, mataa ifii hagooggattuu ti.

⁷ Dhiirti bifa Waaqaatii fi ulfinna Waaqaa ta mudhittu waan teeteef, mataa ifii hin hagooggatin. Dubartiin ammoo ulfinna dhiiraa mudhitti.

⁸ Sababille dubarti'ittuu dhiira irraa dhaggame malee, dhiirti dubartii irraa hin dhaggame.

⁹ Akkasuma dubarti'ittuu dhiiraaf dadante malee, dhiirti dubarti'iif hin dadanne.

¹⁰ Marroo kanaa fi sababa ergantoota Waaqaatiif, dubartiin hagoogguu beessisa baalli'ii teete san hagooggattuu ti.

¹¹ Jireenna Goota'aan qannuun dubartiin dhiira malee hin jiraattu; dhiirtille dubartii malee hin jiraattu.

¹² Akkuma dubartiin dhiira irraa dhaggante, dhiirtille dubartii irraa dhalatte; wonni duudiin ammoo Waaqa irraa dhagganti.

¹³ Me isinuu mura'a; dubartiin adoo mataa ifii hin hagooggatin wolde'a kiristaanaa keessatti Waaqa daadimatuun waan malee?

¹⁴ Dhiirti rifeensa mataa ifii dheereffachuun salphinna akka te'e, aadaan le'ii namaatuu isin hin barsiittuu?

¹⁵ Dubartiin ammoo rifeensa dheeraa yoo qabaatte, isi'iif ulfinnaa motii ree? Rifeensi isi'iille akka ittiin ifi gollattuuf kenname.

¹⁶ Nama yaada kanaan moromuu barbaaduuf ammoo, nuuti yookiin wolde'ooti kiristaanaa ka Waaqaa, aadaa dhibii hin qannu.

Irbaata Goota'aa

(Mat. 26:26-29; Mar. 14:22-25; Luq. 22:14-20)

¹⁷ Yennaa waaqonfanna'aaf wolitti qabantanu, dansaa caalaa hantuu waan gootanuuf, barsiisa amma isinii kennuun isin hin leellifadhu.

¹⁸ Waan duudi'iin dura, wolde'i kiristaanaa keessan yennaa wolitti qabamu, gargar bayiisi odduu teessan akka jiru dhage'eera; wonni ani dhage'elle gamis dhugaa akka te'e hin dhugeeffadha.

¹⁹ Isin keessaa worri dhugaa irra jiru fowamee akka beekkamu, odduu teessanitti gargar bayiisi jiraatuu qaba.

²⁰ Yennaa wolitti qabantanu Irbaati isin nyaattanu ka Gootta'aatii moti.

²¹ Sababille yennaa nyaattanu namuu kuun kaan adoo hin eegin qofuu nyaata. Akka kanaan kuun hin beelowa, ka dhibiin hin machowa.

²² Isin mana itti nyaattanuu fi untanu hin qaddanuu? Yookiin wolde'a kiristaanaa ka Waaqaa hin tuffattanii? Yookiin worra woy hin qanne qanessitanii? Ani maan isiniin jedhu ree? Marroo waan kanaatiif isin leellifadhaa ree? Ani ijjumaa isin hin leellifadhu.

²³ Barsiisi ani Goottaa irraa fudhadhee isiniif dabarsee kenne kana: Gootaan Yesuus halkan dabarfamee kenname xaltaa daabbo'oo fuudhee,

²⁴ Waaqaaf galata galchee, cassee, «Kun foon kiyya, ka isiniif te'u; kana qaabbii tiyyaaf godhadha'a» jedhe.

²⁵ Akkasuma Irbaataan duuba muduunuu fuudhee, «Muduunuun tun gon-dooroo haareya dhiiga kiyyaan teetu; yennaa isii untanu mara qaabbii tiyyaaf godhadha'a» jedhe.

²⁶ Isin yennaa xaltaa daabbo'oo kana nyaattanuu fi muduunuu tana untanu mara, haga Gootaan deebi'ee dhufutti du'a isaa lalladdan.

²⁷ Tanaaf eennulle akka hin malleen, daabboo Gootta'aa yoo nyaate, yookiin muduunuu Gootta'aa yoo une, foonii fi dhiiga Gootta'aa waan salphiseef itti gaafatama.

²⁸ Maarre, eennulle daabboo tana adoo hin nyaatin, muduunuu tanalle adoo hin unin ifi qorqoruu qaba.

²⁹ Eennulle foon Gootta'aa maan akka te'e adoo hin hubatin, foon Gootta'aa yoo nyaate, muduunuu Gootta'aalle yoo une yakkaamessa ifi godha*.

³⁰ Sababa kanaaf isin keessaa worri hedduun dadhabee, worri hedduun dhibamee, worri gariille du'e.

³¹ Adoo dursinee ifi qorqorree† jiraanne, sila Waaqa duratti yakkaameyyii hin teenu‡.

³² Ammoo biyya lafaa waliin akka nu'utti hin muranne, Gootaan amuma nu'utti muree nu adaba.

³³ Tanaaf obboleeyyan tiyya! Irbaata Gootta'aatiif yennaa wolitti qabantanu wol eega'a.

³⁴ Wolitti qabamuun keessan yakkaa ifitti mursiisiisaaf§ akka hin teene, nami isin keessaa beelaye yoo jiraate mana ifiititti nyaatuu ti. Marroo waan dhibi'ii ani yennaa achi dhufu, qajeelfama isinii kenna.

12

Kennansa Ayyaana Woyyichaa

¹ Obboleeyyan tiyya! Amma marroo kennansa Ayyaana Woyyichaa akka beettanu barbaada.

² Isin duri yennaa Waaqatti hin dhugeeffatin, karaa irraa gortanee gara waaqota dharaa ka dubbatiisa hin dandeennee, oofamaa akka turtane hin beettan.

* **11:29** *Yakkaamessa ifi godha:* Yookiin mura'a ifi irratti fida † **11:31** *Ifi qorqoree:* Yookiin ifitti murree ‡ **11:31** *Yakkaameyyii hin teenu:* Yookiin nu'utti hin murantuuyyu § **11:34** *Yakkaa ifitti mursiisiisaaf:* Yookiin mura'aaf

³ Tanaaf nami Ayyaana Waaqaatiin sooreffamee, Yesuus abaaru hin jiru; akkasuma Ayyaana Woyyichaan yoo sooreffame malee eennulle, «Yesuus Gootta'a» ka jedhu akka hin jirre akka beettanu barbaada.

⁴ Kennansi adda addaa jira; Ayyaanni Woyyichi ammoo tokkochuma.

⁵ Tajaajilli adda addaa jira; Goottaan ammoo tokkochuma.

⁶ Hujiin adda addaa jirti; waan mara nama duudii keessatti ka huju Waaqa tokkochuma.

⁷ Kennansi Ayyaanaa ka nama duudii keessatti mudhatu, bu'aa nama duudi'iitiif kenname.

⁸ Ayyaanni Woyyichi tokkoof dandeettii qaroomaan dubbatiisaa hin kenna; ka dhibi'iif Ayyaanni sunuu dandeettii beekkumsaan dubbatiisaa hin kenna.

⁹ Tokkoof Ayyaanni sunuu dhugeeffannaa hin kenna; ka dhibi'iif kennansa dhibee irraa fayyisiisaa hin kenna.

¹⁰ Tokkoof hunna bilbaasa hujiisaa, kaaniif hunna raaga dubbataa hin kenna; ka dhibi'iif dandeettii ittiin kennansa Ayyaana Woyyichaatii fi ayyaana hama'aa addaan baasiisaa, tokkoof dandeettii afaan haareya adda addaatiin dubbatiisaa, ka dhibi'iif dandeettii ittiin waan afaan adda addaatiin dubbatame addaan baasiisaa hin kenna.

¹¹ Ayyaana tokkochuma sanitti tana duudii godha; Ayyaanni Woyyichi akka fedhetti nama tokko tokkoofuu kennansa addaa kenna.

Nafi Tokko Qooda Adda Addaa Qaba

¹² Nafi tokkochi qooda* adda addaa qaba; nafi tokkochi qooda hedduu qaba. Akkasuma Kiristoosille akka nafa tokkocha qooda hedduu qabuu ti.

¹³ Nuuti Yihudoota yoo teenelle, worra Giriikootaa yoo teenelle, garboolee yoo teenelle, worra bilisa yoo teenelle, nafa tokkocha akka teenuuf Ayyaana Woyyichaan cuuphanneerra; nuuti duudiinuu akka unnuuf Ayyaanni tokkochi nu'uuf kennameera.

¹⁴ Nafi qooda hedduu irraa hujame malee, qooda tokko callaa irraa hin hujanne.

¹⁵ Miilli harkaan, «Ani harka waan hin te'iniif, qooda nafaatii moti» yoo jedhe, qooda nafaa te'uun isaa oolchaa hin qabu.

¹⁶ Gurrille, «Ani ila waan hin te'iniif, qooda nafaatii moti» yoo jedhe, qooda nafaa te'uun isaa oolchaa hin qabu.

¹⁷ Nafi duudiin adoo ila te'e, sila maaniin woy dhage'a? Nafi duudiin adoo gurra te'e, sila maaniin foolee fuudha?

¹⁸ Waaqi ammoo, qooda nafa duudi'ii adda addaan akka ifii barbaadetti, addee addee isaatitti qopheesse.

¹⁹ Qoodi nafaa duudiin, qooda nafaa tokko callaa yoo te'e, nafi eessa jiraata laati?

²⁰ Kanaaf akka amma jirutti, qoodi nafaa heddu'u; nafi ammoo tokkocha.

²¹ Maarre ilti harkaan, «Ati naaf hin barbaachittu» yookiin mataan miilaan, «Ati naaf hin barbaachittu» jechuu hin dande'u.

²² Qooda nafaa keessaa irra caalaa dadhabaa fakkaatanee ka mudhatanu-uyyuu, guddoo barbaachisan;

²³ qooda nafa keennaa keessaa ka ulfinna diqqaa qabanu fakkaatanee nu'utti mudhatanuuf, caalchinnee ulfinna kennina; qooda nafa keennaa ka fokkisiisanu fakkaatanee ka nu'utti mudhatanuuf ammoo, caalchinnee kabajjaa kenninee hin eeganna.

* **12:12 Qooda:** Mitikaa **12:12 Rom.** 12:4-5

²⁴ Qooda nafa keennaa ka ilatti mudhattuuf ammoo, wonni kun duudiin hin barbaachittu. Waaqi ammoo, qoodi nafaa tuffatamaan ulfinna irra caalu akka qabaatu wolitti qabeera.

²⁵ Qooda nafaa wodhakkaa garaa garummaan adoo hin jiraatin, akka woliif yaadatanuuf inni tana godhe.

²⁶ Qooda nafaa keessaa tokko yoo rakkate, ka hafanelle isa woliin rakkatan; isaan keessaa tokko ulfinna yoo dhaggate, ka hafanelle isuma san woliin gammadan.

²⁷ Amma isin duudiin nafa Kiristoosii ti; tokko tokkoon keessanuu qooda nafa isaa ti.

²⁸ Waaqi wolde'a kiristaanaa keessatti dursee ergantoota, itti aansee raagota, sadeessoo barsiisota, achiin duuba worra bilbaasa huju, isaanitti aansee worra kennansa dhibamaa fayyisiisaa qabu, worra kennansa namoota qarqaariisaa qabu, bulchitootaa fi worra afaan haareyaan dubbatanu kaaseera.

²⁹ Duudiinuu ergantootaa ree? Duudiinuu raagotaa ree? Duudiinuu barsiisotaa ree? Duudiinuu bilbaasa hujanii ree?

³⁰ Duudiinuu kennaa dhibamaa fayyisiisaa qabanii ree? Duudiinuu afaan haareyaan dubbatanii ree? Duudiinuu afaan haareyaan ka dubbatame hiikuu dande'anii ree?

³¹ Isin ammoo kennaa caaltu dhaggatiisaaf jabaadha'a.

Anille karaa duudii irra caalu isinitti hin mudhisa.

13

Jaalala Dhugicha

¹ Afaan namootaatii fi ergantoota Waaqaatile'een dubbadhee, jaalala qabaachuu yoo dhabe, ani akka bilbila iyyuu yookiin akka sibiila qilillisuu ti.

² Raaga dubbatiisaaf kennaa qabaadhee, dhossaa duudii beekke, beekkumsa duudii qabaadhee, dhugeeffannaa guddoo ta gaara adde'ee buqqittu qabaadhee, jaalala qabaatuu yoo dhabe ammoo, ani womaa moti.

³ Waan qabu mara hiyyeeyyi'iif kennee, nafi kiyyalle akka gubatuuf* dabarsee kennee, jaalala qabaatuu yoo dhabe ammoo, womaa naa hin baatu.

⁴ Jaalalli ossaamessa; jaalalli arja'a; jaalalli hin hinaafu; hin bondhooru; ifi hin jaju.

⁵ Jaalalli jallichaa moti; jaalalli bu'aa ifi qofa hin barbaadu; jaalalli hin bilinjawu; jaalalli yakkaa hin laakkowu.

⁶ Jaalalli dhuga'atti malee, hammeennatti hin gammadu.

⁷ Jaalalli yennaa mara hin ossa; yennaa mara dhugeeffata; yennaa mara hin addata; yennaa mara ciniinnatee ossata.

⁸ Jaalalli ijjumaa hin badu; ammoo raaga dubbatiisalle yoo te'e, hin hafa; afaan haareyaan dubbatiisalle yoo te'e, hin hafa; beekkumsalle yoo te'e, hin hafa.

⁹ Sababille wonni nuuti beennu gamisa; raagi nuuti dubbannulle gamisa.

¹⁰ Wonni mijuu teete yennaa dhuttu, wonni gamisa teete hin baddi.

¹¹ Ani yennaa ijoolle'ee akka ijoolle'ee dubbadhe; akka ijoolle'ee yaadadhe; akka ijoolle'ee herrege; amma ammoo, guddadheen duuba amala ijoollumma'aa lakkiseera.

¹² Wonni amma nuuti dhagginu akka daaw'itii keessatti caararra'aan dhagginuu ti; yennaa san ilumaan hin dhaggina. Wonni ani amma beeku

gamisa; yennaa san qixxee Waaqi na beekutti, beekkumsa guutuu hin qabaadha.

¹³ Yoona dhugeeffannaan, addi'ii fi jaalalli, isaan sadiinuu jabaatanee jiraatan; isaan kana keessaa ka caalu ammoo jaalala.

14

Kennaa Raagaatii Fi Afaan Haareyaan Dubbatiisaa

¹ Jaalala hordofa'a; kennaa Ayyaana Woyyichaa, keessattuu raaga dubbatiisaa akka dhaggattanu jabaadha'aa barbaada'a.

² Nami afaan haareyaan dubbatu, waan inni dubbatu ka beeku waan hin jirreef, Waaqatti dubbata malee namootatti hin dubbatu; inni hunna Ayyaana Woyyichaatiin dhossaa dhuga'aa dubbata.

³ Nami raaga dubbatu, namoota ijaariisaaf, jabeessiisaa fi jajjabeessiisaa dubbata.

⁴ Nami afaan haareyaan dubbatu mataa ifii callaa ijaara; ka raaga dubbatu ammoo wolde'a kiristaanaa ijaara.

⁵ Isin duudiin afaan haareyaan akka dubbattanu hin jaaladha; ammoo san caalaa kennaa raaga dubbatiisaa akka qabaattanu jaaladha. Waan afaan haareyaan dubbatame san, akka wolde'i kiristaanaa ittiin ijaaramu nami tokko yoo hiike malee, nama afaan haareyaan dubbatu caalaa ka raaga dubbatutti caala.

⁶ Maarre obboleeyyan tiyya! Ani mudhii yookiin beekkumsa yookiin raaga yookiin barsiisa tokko adoo hin dubbatin, afaan haareya callaan dubbataa gara keessan yoo dhufe, maan isinii baya?

⁷ Suusullee yookiin kiraara meya lubbuu hin qanne irrattuu, qoonqoon afuufantu yookiin dhowantu sun qoonqoo adda addaa yoo hin qabaatin, qoonqoon isaan dhageessisanu ta attamii akka teete attamiin beekkanti ree?

⁸ Tultullaan afuufamee, qoonqoon isaalle qulloottee yoo beekkamuu dhadde, eennuttuu lolaaf qophowa ree?

⁹ Akkasuma, wonni isin afaan haareyaan dubbattanu ka hin beekkanne yoo te'e, nami waan isin dubbattane attamiin beekuu dande'a ree? Isin akka waan qilleensatti dubbattanuu teetan.

¹⁰ Biyya lafaa irratti afaan hedduun adda addaa jira; isaan keessaa hiikkaa ka dhabe hin jiru.

¹¹ Ani hiikkaa afaan dubbatamuu san yoo beekuu dhabe ammoo, nama dubbatu biratti orma te'a; innille orma natti te'a.

¹² Maarre isin kennaa Ayyaana Woyyichaa dhaggatiisaaf eega dharraatane, waan duuchii caalaa kennaa wolde'i kiristaanaa ittiin ijaaramu akka dhaggattanu jabaadha'aa barbaada'a.

¹³ Tanaaf nami afaan haareyaan dubbatu, waan dubbate san hiikuu akka dande'u daadimatuu qaba.

¹⁴ Ani afaan haareyaan* yoo daadimadhe, ayyaanni kiyya hin daadimata; qalbiin tiyya ammoo womaa hin hujju.

¹⁵ Maan godhuu qaba? Ani ayyaana kiyyaan hin daadimadha; qalbii tiyyaalle'een ammoo hin daadimadha; ayyaanaan hin faarsa; qalbii tiyyaalle'een ammoo hin faarsa.

¹⁶ Ati ayyaana keetiin yoo Waaqa galateeffattu, nami wonni ati jettu haareya itti teetee, hiikkaa dubbi'ii hin beekin, daadimannaa galataa ta ati dhikeessitutti, «Attam Ameen» jechuu dande'a ree?

* **14:14** Afaan haareyaan: Afaan hin beekkanneen

¹⁷ Daadimannaan galataa ta ati dhikeessite dansaa teetulle, nami dhibiin ammoo ittiin hin jabaatu.

¹⁸ Ani isin duudii caalaa afaan haareyaan waan dubbadhuuf, Waaqa galateeffadha.

¹⁹ Te'uu malee wolde'a kiristaanaa keessatti, afaan hin beekkanneen jecha kuma kudhan dubbachuu irra, namoota dhibii barsiisiisaaf, jecha shan afaan beekkamuun dubbatuu jaaladha.

²⁰ Obboleeyyan tiyya! Waan hantu'uuf daa'immaan te'a'a; yaada keessaniin ammoo worra guddatane te'aa malee, daa'immaan hin te'ina'a.

²¹ Barreeffama Woyyicha keessatti,
«Ani karaa namoota afaan haareya dubbatanuutii fi
karaa namoota afaan ormaa dubbatanuutiin,
kolbaa tanatti hin dubbadha;
tun teetulle kolbaan tiyya ana hin dhageettu» jedha
Gootaan» jedhantee barreenfanteerti.

²² Tanaaf afaan haareyaan dubbachuun beessisa worra hin dhugeeffanneef kenname malee, worra dhugeeffateef ka kennamee moti; raagi ammoo worra dhugeeffateef malee, worra hin dhugeeffanneefii moti.

²³ Maarre wolde'i kiristaanaa marti wolitti qabamee, nami marti afaan haareyaan yoo dubbate, namooti hiikkaa dubbii sanii hin beenne yookiin worri hin dhugeeffatin yoo ol seenane isiniin, «Worri kun maraateera» hin jedhanuu ree?

²⁴ Ammoo isin martinuu adoo raaga dubbatiisatti jirtanuu, nami hin dhugeeffatin yookiin nami dubbiiin tun isaaf hin galle yoo ol seene, waan dhage'een cubbuu ifii hubata. Akkasuma dubbii dhage'u duudi'iin isatti muranti.

²⁵ Dhossaan gadhaa isaa keessa jirtulle ifatti hin baati; innille addaan lafatti jige, «Dhugumaan Waaqi odduu teessan jira» jedhaa Waaqaaf sagada.

Seera Waaqonfannaa Wolde'a Kiristaanaa

²⁶ Obboleeyyan tiyya! Yoona maan jenna ree? Yennaa wolitti qabantanu isin keessaa tokko faarsiisa, tokko barsiisiisa, tokko mudhii, tokko afaan haareyaan dubbatiisa, tokko waan dubbatame hiikiisa hin qabaata. Wonni kun duudiin ammoo, wolde'a kiristaanaa ijaariisaaf te'uu ti.

²⁷ Worri afaan haareyaan dubbatu yoo jiraate, lama yookiin yoo heddate sad callaan, badoo bado'oon dubbatuu ti; nami tokko ammoo waan dubbatame san hiikuu ti.

²⁸ Nami hiiku yoo jiraatuu dhabe, ka afaan haareyaan dubbatu sun, ifii fi Waaqa calla'atti dubbatuu malee, wolde'a kiristaanaa keessatti cadhisuu ti.

²⁹ Raagoti lama yookiin sad te'anee dubbatanuu ti; worri dhibiin ammoo waan isaan jedhane qorqoruu ti.

³⁰ Worra tee'ane keessaa nama dhibi'iif mudhiin yoo kennanteef ammoo, ka duraan dubbatiisatti jiru sun cadhisuu ti.

³¹ Nami duudiin akka baratuu fi jajjabaatu, tokko tokkoon keessan badoo bado'oon raaga dubbatuu dandeettan.

³² Ayyaanni raagotaa raagotaaf hin ajajama.

³³ Sababille Waaqi Waaqa nageyaa ti malee, ka hoga'aatii moti.

Akkuma wolde'a kiristaanaa duudii keessatti te'u,

³⁴ dubartooti wolde'a Kiristaanaa keessatti cadhittuu ti. Akkuma Seerri Muuse'ee jedhutti, dubartooti akka ajajantu malee, akka dubbattuuf hin eeyyamanne.

³⁵ Wonni tokko tokko ka isaan beekiisaa barbaadanu yoo jiraatte, ab-buma manaa ifii manatti gaafatanuu ti; dubartiin takka wolde'a Kiristaanaa keessatti dubbachuun fokko'o.

³⁶ Jechi Waaqaa isin irraa dhufee? Yookiin isin qofa geyee?

³⁷ Nami tokko ani raaga'a yookiin kennaa ayyaanaa qaba ka jedhu yoo jiraate, ajaji ani barreesse kun ka Gootta'aa akka te'e beekuu ti.

³⁸ Nami tana hin beenne ammoo, inninuu hin beekkamu.

³⁹ Tanaaf obboleeyyan tiyya! Raaga dubbatiisaaf jabaadha'aa barbaada'a; afaan haareyaan dubbatiisalle hin dhooggina'a.

⁴⁰ Wonni duudiin ammoo, karaa qajeela'aa fi seeraan te'uu ti.

15

Du'aa Ka'iisa Kiristoosii

¹ Amma obboleeyyan tiyya! Oduu Gammadaa ta ani isinitti lallabeeruun fudhattanee, itti jabaattanee dhaabbattane, isin qaabachiisuu fedha.

² Oduu Gammadaa ta ani isinitti lallabe jabeessitane yoo qabattane, ittiin hin fayyitan; yoo san te'uu dhadde ammoo, dhugeeffannaan teessan gatii hin qaddu.

³ Ani waan ifiif fudhadhe ka waan duudii caalu isinii dabarseera; wonni ani isinii dabarselle: akkuma Barreeffama Woyyicha keessatti barreenfante Kiristoos cubbuu teennaaf du'ee,

⁴ awwaalamee, akkuma Barreeffama Woyyicha keessatti barreeffantetti, guyyaa sadiin duuba du'aa ka'eera ta jettu.

⁵ Inni Pheexroositti mudhattee, achiin duuba barattoota ifii kudhanii lamatti mudhate.

⁶ Saniin duuba hordofattoota ifii ka dhibba shaniin ol te'anutti yenna tokkotti mudhate; hedduun isaanii haga ammaa hin jiran; gariin ammoo du'aneeran.

⁷ Yaaqoobitti mudhateen duuba ammoo, ergantoota maratti mudhate.

⁸ Muummee irratti ana nama akka sadheessaa te'elle'etti mudhate.

⁹ Ani ergantoota duudii keessaa diqqa'a; wolde'a Kiristaanaa ka Waaqaa irralle'etti waan miidhaa geessiseeruuf ergamaa jedhamiisaaf nama te'uu moti.

¹⁰ Amma ammoo badhaadha Waaqaatiin akka amma te'e kana te'ee dhaggama; badhaadhi inni naaf kennelle akkanumaan hin hanne. Ani ergantoota taan caalaa dadhabee hujeera; tana ka huje badhaadha Waaqaa ka na woliin jiru malee, anaa moti.

¹¹ Maarre analle te'e isaan, woma kana lallanna; isinille waanuma kana dhugeeffattane.

Du'aa Ka'iisa Worra Du'ee

¹² Kiristoos du'aa akka ka'e eega lallabame, isin keessaa worri gariin attamiin du'aa ka'iis worra du'ee hin jiru jedhan ree?

¹³ Du'aa ka'iis worra du'ee yoo hin jiraatin, Kiristoosille du'aa hin kaane jechu'u.

¹⁴ Kiristoosille yoo du'aa ka'ee hin jirre teete, lallabi keenaa gatii hin qabu; dhugeeffannaan teessanille gatii hin qaddu jechu'u.

¹⁵ Waaqi, Kiristoos du'aa kaaseera jennee, dhugaa bayiisa keennaan dhugaa baatota Waaqaa, dharaameyyii teennee dhagganneerra. Worri du'e dhugumaan du'aa ka hin kaane yoo te'e, Waaqi ammoo Kiristoos du'aa hin kaanne jechu'u.

¹⁶ Sababille worri du'e ka hin kaafanne yoo te'e, Kiristoosille du'aa ka'ee hin jiru.

¹⁷ Kiristoos yoo du'aa kaafamee hin jirre teete, dhugeeffannaan teessan gatii hin qaddu; haga ammaan tanaalle cubbu'uun jirtan.

¹⁸ Yoo akkana teete worri Kiristoositti dhugeeffatee du'e badeera jechu'u.

¹⁹ Jiruu biyya lafaa tana calla'aaf Kiristoositti yoo addannee jiraanne, namoota duudii caalaa ka nayuu qabanuuf nu'u.

²⁰ Kiristoos ammoo dhugumaan du'aa ka'ee, worra du'eef angafa te'ee du'aa ka'a isaanille mirkaneesse.

²¹ Duuti karaa nama tokkootiin akkuma dhutte, du'aa ka'iis worra du'eelle karaa nama tokkootiin dhutte.

²² Nami marti akkuma Addaamiin du'u, akkasuma nami marti Kiristoosiin jiruu hin dhaggata.

²³ Tun tokko tokkoofuu badoo badoo'oonuu teeti; Kiristoos du'aa ka'ee angafa akkuma te'e, worri ka Kiristoosii te'anelle, yennaa inni dhufu du'aa hin ka'an.

²⁴ Achiin duuba Kiristoos bulchitoota, worra baallii qabuu fi hunna qabu balleessee, mootummaa Waaqa Abba'atti yennaa kennu, muummeen biyya lafaa hin teeti.

²⁵ Waaqi diinota isaa mara miila isaa jala haga keyutti, Kiristoos mowuu qaba.

²⁶ Diinni injifatamee muummee irratti badu du'a.

²⁷ Barreeffam Woyyichi, «Waaqi waan mara miila isaatiin jala godheera» jedha. «Waan duudii miila isaatiin jala godheera» yennaa jedhu, Waaqi waan duudii miila Kiristoosiitiin jala godhe, ifiif ammoo miila jala akka hin galiin ifa.

²⁸ Wonni duudiin baallii Kiristoosiitiin jala teeteen duuba, Ilminuu Waaqa waan duudii isaan jala godhe jala ifi godha; Waaqille waan mara guutumatti hin bulcha.

²⁹ Worri du'e ka hin kaane yoo te'e, namooti marroo worra du'eetiif jedhanee cuuphamanu bu'aan isaanii maan ree? Worri du'e ka hin kaane yoo te'e, kolbaan tun maaf addee isaanii cuuphanti ree?

³⁰ Nuutille maaf yennaa mara balaa keessa ifi galchina ree?

³¹ Obboleeyyan tiyya! Guyyaa guyya'aanuu duuti na dhaqqaddi. Karaa Goottaa keenaa Yesuus Kiristoosiitiin isiniin waan ifi jajuuf, ani tana isinitti hima.

³² Akka yaada namaa qofaan, Efesoon keessatti bineensaan wol loluun kiyya bu'aan maan ree? Worri du'e ka hin kaane yoo te'e, «Boru waan duunuuf, kowa'a hin nyaanna, hin unna» akkuma jedhante te'uu isi'ii ti.

³³ Hin gowwoomina'a. «Hari'aan badduun amala dansaa balleessiti».

³⁴ Gara qalbii teessanii deebi'a'a. Cubbuulle hin hujina'a. Isin keessaa worri gariin ka Waaqa hin beenne jira. Ani isin qaanessiisaaf tana dubbadha.

Nafa Du'aa Ka'e

³⁵ Nami tokko, «Worri du'e attamiin ka'a? Yennaa du'aa ka'anuu nafa attamii qabaatan ree?» jedhee gaafata fa'a.

³⁶ Ati gowwa'a! Midhaan ati facaattu yoo du'e* malee, mudhee jiruu hin qabaatu.

³⁷ Sanyiin qamadi'ii yookiin midhaan dhibiin ka ati facaattu, sanyuma qofa malee, nafa midhaanii ka latu sanii moti.

* **15:36** Du'e: Shame

³⁸ Waaqi ammoo akka jaalatetti nafa hin kennaaf; tokko tokkoofille akkuma gosa sanyi'iititti nafa hin kennaaf.

³⁹ Foon marti tokkoo moti; foon namaa gosa tokko; foon bineensaa ka dhibi'i; ka sinbirrootaa ka dhibi'i; ka qurxummi'iille ka dhibi'i.

⁴⁰ Nafi worra ol-gubba'aa jira; nafi worra lafaalle jira. Teetuu malee ulfinni nafa worra ol-gubba'aa gosa tokko; ulfinni nafa worra lafaalle gosa dhibi'i.

⁴¹ Ulfinni adu'uu gosa tokko; ulfinni ji'aa ka dhibi'i; ulfinni urjootaalle gosa dhibi'i; urjiin takka ulfinna urjii dhibi'ii irraa adda te'e qaddi.

⁴² Ka'iis worra du'eelle akkasuma te'a. Nafi du'ee awwaalamee badu, nafa jiraataa hin banne te'ee ka'a.

⁴³ Nafi salphinnaan awwaalame, ulfinnaan hin ka'a; nafi dadhabaan awwaalame, hunnaamessa te'ee hin ka'a.

⁴⁴ Nafa foonii te'ee ka awwaalame nafa ayyaanticha te'ee hin ka'a. Maarre nafi foonii eega jiraate, nafi ayyaantichille jira.

⁴⁵ Barreeffam woyyichi, «Nami qaraa Addaam foon jiruu qabu te'e» jedha; Addaamiin duuba ammoo, Ayyaana jiruu kennu te'e.

⁴⁶ Ka dura dhufe nafa fooniiti malee, nafa ayyaantichaa moti. Nafi ayyaantichi nafa foonii saniin duuba dhufe.

⁴⁷ Nami duraa Addaam lafa irraa waan dadameef, nama biyya lafaati; namichi lammeesso'oo ol-gubbaa irraa dhufe.

⁴⁸ Worra lafaa ka te'ane, namicha lafa irraa dadame fakkaatan; worra ol-gubba'aa ka te'ane nama ol-gubba'aa dhufe fakkaatan.

⁴⁹ Nafa nama lafa irraa dadamee akkuma fakkaannu, akkasuma nafa nama ol-gubba'aalle hin fakkaanna.

⁵⁰ Obboleeyyan tiyya! Nami foonii fi dhiigaan mootummaa Waaqaa dhaaluu akka hin dandeenne, yookiin nafi du'aan badu nafa jiraataa hin banne akka hin dhaalle isinitti hima.

⁵¹ Ani dhossaa takka isinitti hima. Nuuti maraa hin jijjiiranna malee hin duunu.

⁵² Tultullaan muumme'ee yennaa afuufamu, nuuti akka lipheettii ilaa takkumaan hin jijjiiranna. Tultullaan hin afuufama; worri du'e ka hin banne te'ee hin ka'a; nuutille hin jijjiiranna.

⁵³ Nafi badu kun ka hin banne, nafi du'u kunille ka hin duune uffatuu qaba.

⁵⁴ Maarre nafi badu kun ka hin banne, nafi du'u kunille ka hin duune yennaa uffatu, Barreeffam woyyichi, «Duuti injifacha'aan liqinfante»;

⁵⁵ akkasuma,

«Du'a! Injifannaan teeti meet?

Du'a! Hunni ati namaan miitu meet?»
jedhu hin muummowa.

⁵⁶ Hunni ilkattii du'aa cubbu'u; hunni cubbu'uulle seera.

⁵⁷ Ammoo Waaqa Karaa Goottaa keenaa Yesuus Kiristoosiitiin injifachaa nu'uu kennuuf galanni te'u!

⁵⁸ Tanaaf obboleeyyan tiyya ta jaalatantane! Jabaadha'aa dhaabbadha'a. Waan tokkolle'een hin daaqina'a. Hujii Gootta'aatiif ka dadhaddanu toluma akka hin te'in beeka'aatii, yennaa mara hujii Gootta'aa hujiisaaf jabaadha'a.

16

Qarqaarsa Kolbaa Waaqaatiif Guurame

¹ Amma marroo qarqaarsa kolbaa Waaqaa ilaalchisee, waan ani wolde'a kiristaana Galaatiya'aatii hime, isinille godha'a.

² Ani yennaa dhufu beesee akka hin guurre, torbaan torbaaniinuu guyyaa dilbataa nami tokko tokkonuu, haguma galii ifiititti baasii addaan baasee keyuu ti.

³ Ani yennaa dhufu, worra isin filattaneef xalayaa geegessa'aa kennee, kennansa isin kennitane gara Yersaaleemii akka geessanuuf hin erga.

⁴ Akka ani dhaquuf barbaachisaa yoo teete ammoo, isaan na woliin hin dhaqan.

Karoora Phawuloosii

⁵ Ani karaa Meqedooniya'aatiin dhaqiisaaf waan hedeef, biyya Meqedooniya'aa keessa tareen duuba, gara keessan hin dhufa.

⁶ Qarqaarsa addee ani dhaqu maraaf naa te'u akka naaf gootanu, ani isin bira hin tura fa'a te'a. Ani ganna guutuulle isin bira turuu dande'a fa'a.

⁷ Amma yennaa taru isin dubbisuu hin barbaadu; yoo Gootaan jedhe, yennaa diqqoo dheertuu isin bira akka turu hin addadha.

⁸ Haga guyyaa jila Phenxeqosxe'eetitti ammoo, qachaa Efesoonii keessa hin tura.

⁹ Balbalti badhoon bu'aa qabeettiin naaf bananteerti. Worri ana mormu ammoo heddu'u.

¹⁰ Ximootewoos gara keessan yennaa dhufe, akka inni sodaa malee isin woliin tee'u akka gootanu hubadha'a; sababille inni akkuma kiyya hujii Goota'aa hujaara.

¹¹ Nami tokkolle isa hin tuffatin; ammoo akka inni nageyaan gara kiyya deebi'u isa gargaara'a. Deebi'isa isaa obboleeyyan woliin eegiisatti jirra.

¹² Marroo obboleessa keenna Apholoosiille, akka inni obboleeyyan dhibii woliin dhufee isin ilaaluuf, guddoo isa magannifadhe. Inni ammoo amma dhufiisa hin barbaadu; te'uu malee yoo itti tolte hin dhufa.

Gorsaa Fi Nageya Muummee'ee

¹³ Dammaqa'a; dhugeeffanna'aan jabaadha'aa dhaabbadha'a; jajjabaadha'aa, jabaadha'a.

¹⁴ Waan hujjanu mara jaalalaan huja'a.

¹⁵ Obboleeyyan tiyya! Isxifaanosii fi maatiin isaa lafa Akaayya'aa keessatti kiristaana jalqabaa akka te'anee fi dhugeeffattoota tajaajiliisaaf akka ifi kennane hin beettan.

¹⁶ Namoota akkasiitii fi worra isaan woliin hujaa dadhabanuuf akka ajajantanuuf isin kadhada'a.

¹⁷ Dhutti Isxifaanosii, Fortunaaxosiitii fi Akaayqosisii guddoo na gammachiitteerti. Sababille waan isin na woliin as hin jiraatiniif, waan na irraa dhidhate naa guutaneeran.

¹⁸ Isaan gadhaa kiyyaa fi keessan gabbi tolchaneeran. Worra akkasii kana yaadadha'a.

¹⁹ Wolde'ooti kiristaanaa ka Asiyaa keessa jiranu nageya isiniif dhaaman; Aqiila'aa fi Phirsikaan, wolde'a kiristaanaa ka mana isaaniititti wolitti qabamu woliin maqaa Goota'aatiin nageya isinii dhaaman.

²⁰ Dhugeeffattooti asi jiranu duudiin nageya isinii dhaaman.

Sunqata woyyichaan nageya wol fuudha'a.

²¹ Nageya kana ani Phawuloos harkuma kiyyaan isinii barreesse.

²² Ka Gootaa hin jaalanne yoo jiraate, ka abaarame te'uu ti! Gootaa keenna koottu!*

²³ Badhaadhi Gootaa keenna Yesuusii isin woliin jiraatu.

²⁴ Jaalalli kiyya karaa Kiristoos Yesuusiitiin isin duudii waliin jiraatu.
Ameen.

Ergaa Phawuloos Gara Worra Qorontoosii Erge Ta Lammeesso'oo Seensa

Ergaan Phawuloosii ta lammeesso'oo, qunnamtiin inni wolde'a kiristaana Qorontoosii waliin qabu yennaa rakkittii teetetti barreeffante. Miseensoti wolde'a kiristaanaa gariin Phawuloos guddoo miidhanulle, inni ammoo halchaa guddoo araaraaf akka qabu mudhisaa, tun yennaa teetutti gammadi guddaan akka itti dhage'amu ifa tolchee hima.

Phawuloos kutaa ergaa tanaa ta qaraa keessatti qunnamtii ifii ta wolde'a kiristaana Qorontoosii waliin qabu beessisaa, arrabaa fi mormii wolde'a kiristaanaa keessatti kaateef deebii jajjadduu maaf akka deebise ifa tolchee hima. Yaaduma kana waliin qassiise xixichi isaa, akka isaan cubbuu irraa deebi'anuu fi gara araaraa akka dacha'anuu waan godheef, gammada itti dhage'ame isaanitti mudhisa. Itti aanseelle kiristaana lafa Yihuda'aa qarqaariisaaf arjoomaan akka wo kennanu isaan yaadachiisa. Foorota dhumaa keessatti Phawuloos himannaa ergamaa te'iisa isaa irratti dhikaateef waan falmatu kenna. Sababille wolde'a kiristaana Qorontoosii keessatti worri gariin ergantoota dhugaameyyii ifi godhane, Phawuloosiin ammoo ergamaa dharaamessa jedhaa himatiisatti jiraniyyu.

Haadhoo Dubbi'ii

Seensa 1:1-11

Phawuloosii fi wolde'a kiristaana Qorontoosii 1:12–7:16

Qarqaarsa wolde'a kiristaana lafa Yihuda'aatiif 8:1–9:15

Falmata Phawuloos ergamaa te'iisa ifitiif dhikeeffate 10:1–13:10

Yaada buufataa 13:11-13

¹ Ana Phawuloosii fedha Waaqaatiin ergamaa Yesuus Kiristoosii te'ee fi obboleessa keenna Ximootewoos irraa:

Wolde'a kiristaanaa ka Waaqaa, ka qachaa Qorontoosii keessa jiruu fi kolbaa Waaqaa ta lafa Akaayya'aa duudii keessa jirtu maraaf:

² Waaqi Abbaan keennaa fi Gootaan keenna Yesuus Kiristoos badhaadhaa fi nageya isiniif kennu.

Phawuloos Waaqa Galateeffate

³ Waaqa Abbaa Gootaa keenna Yesuus Kiristoosii, Abbaa mararti'iitii fi Waaqa jajjabeenna maraatiif galanni te'u.

⁴ Nuuti jajjabeenna Waaqa irraa dhagganeen, worra rakkinna adda addaa keessa jiru akka jajjabeessinuuf, Waaqi rakkoo teenna duudii keessatti nu jajjabeessa.

⁵ Akkuma rakkinna hedduu Kiristoosii qoodanne, akkasuma Kiristoosiin jajjabeenna hedduu dhagganna.

⁶ Nuuti yennaa rakkannu isin jajjabeennaa fi fayyinna dhaggattan; yennaa jajjabaannulle rakkoo akka nuuti fudhannee, isinille ossaan fudhattanee hin jajjabaattan.

⁷ Isin rakkoo teenna akkuma qoodantanu, akkasuma jajjabeenna nuuti fudhannu akka qoodantanu waan beennuuf, addiin nuuti isin irratti qannu ijjumaa hin tachootu.

⁸ Obboleeyyan tiyya! Rakkoo lafa Asiya'aa keessatti nu dhaqqadde, akka beettanu barbaanna. Rakkoon nu dhaqqadde sun guddoo ulfaattu'uu fi hunna teennaan ol waan teeteef, addii jiru'uun le'iisaa kutanneerraayyu.

⁹ Akka waan muraan du'aa nutti murantee nu'utti dhage'ameeraayyu; ammoo Waaqa worra du'ane kaasuu callaa malee, ifii keenaa akka hin addanneef tun teete.

¹⁰ Waaqi balaa du'aa ka akkasii jalaa nu baaseera, hin baasalle'e; ammalle akka nu baasu addii isatti godhanneerra.

¹¹ Isinille daadimannaa teessaniin nu qarqaaruu qaddan. Daadimannaa heddu'uun qarqaarsa Waaqaa yennaa dhaggannu, worri hedduun sababa keennaaf Waaqa hin galateeffata.

Phawuloos Karoora Ifii Jijjiire

¹² Amma wonni nuuti ifi jajannuun kana: Le'iin nuuti biyya lafaa tana keessa leene, keessattuu akka nuuti isin woliin leene, woyyumma'aa fi qajeelummaa Waaqa irraa dhaggaanneen akka te'e wodanaan keenaa dhugaa baya. Kunille badhaadha Waaqaatiin malee, qarummaa namaatiinii moti.

¹³ Nuuti waan isin dubbifattanee hubatu'uu dandeettanu malee, waan dhibii womaa isiniif hin barreessinu.

¹⁴ Isin amma marroo teenna gamisa beettan; duuba irra ammoo guutattanee akka hubattanu hin addadha. Sababa kanaan guyyaa Gootaan Yesuus dhufu akkuma nuuti isiniin ifi jajanu, isinille nu'uun ifi jajjan.

¹⁵ Ani waan kana waan beekeeruuf, yennaa lama akka isin fayyadantanuuf jedhee, matooma gara keessan dhufiisaaf karoora baafadheeraayyu.

¹⁶ Ani gara Maqedooniya'aa yennaa taruu fi achii yennaa deebi'u isin ilaaliisaaf karoora baafadheera. Isinille yennaa san deensa kiyya ka ani gara lafa Yihuda'aa dhaquuf na hin qarqaartan jedhee yaadadheera.

¹⁷ Yennaa karoora kana baafadhe, nama yaada lamaa isinitti fakkaadhaa? Yookiin tana karoorfatiisaan yennaa tokkotti «Eeti'ii» fi «Waawwo'o» jedhaa yaada namaatiin waan godhe seetanii?

¹⁸ Waaqi addatamaa waan te'eef, wonni nuuti isinitti hinnu jecha yaada lamaa ka «Eeti'ii» fi «Waawwo'o» jedhuu moti.

¹⁹ Ilmi Waaqaa Yesuus Kiristoos ka Siilaas, Ximootewoosii fi ani odduu teessanitti lallanne jecha yennaa maraa, «Eeti'i» jedhuun malee, jecha yaada lamaa ka, «Eeti'ii» fi «Waawwo'o» jedhuunii moti.

²⁰ Waadaan Waaqi nu'uuf gale duudiin karaa Kiristoosiitiin, «Eetii» te'a. Tanaaf nuutille ulfinna Waaqaatiif karaa Kiristoosiitiin, «Ameen» jenna.

²¹ Nuuti isin woliin Kiristoositti akka jabaannu ka godhe Waaqa; hujii tanaaf ka nu muudelle isa.

²² Ka isaa te'uu keennaaf beessisa ifii nu irratti godhee, karra hegeri nuu kennuuf akka qaddi'iititti Ayyaana Woyyicha ifii gadhaa keenaa keessa ka keye isa.

²³ Wonni ani gara lafa Qorontoosii deebi'ee dhufuu dhabeef, akka isin hin gaddisiinne isiniif nayee ti; kanalle'eef Waaqi naaf dhuga'a.

²⁴ Isin dhugeeffanna'aan jabaattanee waan dhaabbattaneef, akka gammaddanuuf isin woliin hujaarra malee, dhugeeffannaa teessan irratti ifi goottonsiisaafii moti.

2

¹ Ani deebi'ee isin gaddisiisu'uuf gara keessan akka hin dhunne murteef-fadheera.

² Ani yoo isin gaddisiiselle, isinuma worra ani gaddisiise malee, eentu na gammachiisa ree?

³ Ani gara keessan yennaa dhufu, worri na gammachiisu'uu male akka na hin gaddisiinneef jedhee, akka san isiniif barreesse. Sababille gammadi kiyya gammada keessan maraa akka te'e hin addadha.

⁴ Gadda gudda'aan, gadhaa laalatee fi imimmaan hedduu buusee wonni isiniif barreesse, akka ani guddoo isin jaaladhu akka beettanuuf malee, isin gaddisiisiisaafi moti.

Nama Yakkeef Araaramuu

⁵ Nami nama gaddisiise yoo jiraate inni ka gaddisiise anaa moti; yakkaa itti o'isiisa hin te'in malee, gara tokkoon inni isin duudii gaddisiise.

⁶ Nama akkasii kana, adabbiin isin hedduun adaddane hin geetti.

⁷ Namichi kun guddoo gaddiisa irraa ka ka'e addii akka hin kutanne, isaaf araarantaneef jajjabeessuu qaddan.

⁸ Maarre isa jaalatuu keessan akka mirkaneessitanu isin kadhada.

⁹ Ani haga isin ilaalee, waan maraan ka ajajantanu te'iisa keessan beeki-isaaf isiniif barreesse.

¹⁰ Nama isin araarantanuuf, anille hin araaramaaf. Wonni ani namaaf araaramu'uu male yoo jiraatte, sababa keessaniif jedhee fuula Kiristoosii duratti araameera.

¹¹ Hujii hantuu seexanaa waan beennuuf, akka inni nu hin gowwoonsi-neef jedhee tana godhaara.

Yaaddoo Phawuloos Qachaa Xiro'aasii Keessatti Yaade

¹² Oduu Gammadaa ta Kiristoosii lallabiisaaf, yennaa ani gara qachaa Xiro'aasii dhage, Gootaan balbala tajaajilaa naaf baneeraayyu.

¹³ Ammoo obboleessa kiyya Tiitoos achitti waan dhagguu dhabeef, yaadi kiyya hin foorfanne. Maarre worra achi jirutti nageya dhaamee gara Maqedooniya'aa tare.

¹⁴ Waaqa yennaa mara karaa Kiristoosiitiin injifatoota nu godhee, nu qajeelchuu fi beekkumsa marroo Kiristoosiitiif qannu akka uddowaa foolee dansaa qabuu, addee mara akka dhaqqassinnu nu godhuuf galanni te'uu ti.

¹⁵ Nuuti worra fayyuufille te'e, worra baduuf akka dakkara* foolee dansaa qadduu teennee, Kiristoosiin worra Waaqaaf dhikaateeru.

¹⁶ Nuuti, worra baduuf foolee gara du'aa geessitu; worra fayyuuf ammoo foolee gara jiru'uu geessitu. Yoona hujii akkasii tanaaf ka dandeettii qabu eennu?

¹⁷ Nuuti akka worra Waaqaan ergameetitti tajaajiltoota Kiristoosii teennee, fuula Waaqaa duratti gadhaa qullu'uun dubbanna malee, akka namoota hedduu Jecha Waaqaa bu'a'aaf daldalanuutii moti.

3

Tajaajiltoota Gondoaroo Haareyaa

¹ Nuuti ammalle ifi saaduu jalqabaarraa? Yookiin akkuma worri gariin godhu xalayaa deeggarsaa gara keessan fidatuu yookiin isin irraa fudhatuu nu barbaachisaa ree?

² Xalayaan keenna ka akka nami duudiin beekuu fi dubbisuuf gadhaa keenna keessatti barreeffameeru isinuma.

³ Isin tajaajila keennaan xalayaa Kiristoosii te'uun keessan ifa. Xalayaan kun hallu'uun adoo hin te'in, Ayyaana Waaqa jiraata'aatiin, gabatee dhaka'aa irratti adoo hin te'in gadhaa namaa keessatti barreeffameera.

⁴ Nuuti karaa Kiristoosiitiin Waaqatti addii waan qannuuf tana jenna.

⁵ Nuuti dandeettii teennaan tana goona waan jennu takkaalle hin qannu; dandeettiin teenna Waaqa irraa dhutti.

⁶ Tajaajiltoota Gondooroo Haareyaa akka teenuuf ka dandeetti nu'uuf kenne isa; gondooroon tun ta Ayyaana Woyyichaati malee, ta seera qube'een barreeffameetii moti. Seerri qube'een barreeffame du'a fida; Ayyanni Woyyichi ammoo jiruu kenna.

⁷ Seerri dhakaa baxxicha irratti qube'een bocameeraayyu; ifi yennaa seerri kenname jiru kuun badaa ka deemtu te'ulle, kolbaan Israa'elii fuula muuse'eetitti ila qaddee ilaaliisaaf hin dandeenne. Eegasuu seerri du'a fide ulfinna akkanaatiin yoo mudhate,

⁸ tajaajilli karaa Ayyaana Woyyichaatiin dhaggamu ulfinna kana caalu attam hin qabaanne ree?

⁹ Tajaajilli yakkaa namatti muru ulfinna hagaraa ka qabu yoo te'e, tajaajilli nama balchoonsu attam ulfinna caalu qabaatuu dhaba ree?

¹⁰ Ulfinni duuba irraa ka akka malee caalu waan te'eef, ulfinni dur tare akka woy hin qanneetitti laakkowama.

¹¹ Wonni caararrowaa deentuuyyuu ulfinna hagaraa ka qaddu eega teete, wonni haga bara baraa jiraatu ammoo ulfinna akka malee caalu attam hin qabaanne ree?

¹² Addii akkanaa waan qannuuf, sodaa malee dubbanna.

¹³ Nuuti akka muuse'eetii moti; inni calalaa fuulaa ka badu san kolbaan Israa'elii akka hin dhaggineef fuula ifi gollate.

¹⁴ Qalbiin isaanii dhugumaan dillotteerti; haga guyyaa adhaalle kitaaba Gondooroo Qaraa yennaa dubbisanu qalbiin isaanii gollaa saniin akkuma gollanteen jirti. Gollaan tunille karaa Kiristoosii qofaan ka baddu waan teeteef tun teete.

¹⁵ Haga adhaalle yennaa isaan kitaaba Seera Muuse'ee dubbisanu mara, qalbiin isaanii golla'an gollanti.

¹⁶ Ammoo yennaa nami gara Gootta'aa deebi'u gollaan hin baddi.

¹⁷ Gootaan Ayyaana; addee Ayyaanni Gootta'aa jirutti bilisummaan hin jirti.

¹⁸ Nuuti duudiin fuula hin gollamiiniin, ulfinna Waaqaa akka daaw'itiin mudhatuutitti hin calalassina; nuutille bifa Gootaa Ayyaana te'ee fakkaatiisaaf ulfinna irraa gara ulfinna hin jijjiiranna.

4

Tajaajila Dhugaamessa

¹ Waaqi marartii ifitiin tajaajila kana waan nu'uu kenneef addii hin kutannu.

² Nuuti waan dhossa'aa fi fukkisiisaa te'e lakkinneerra; maltumma'aan hin hunyu; Jecha Waaqaalle hin miccirru; addee akkasii dhugaa ifatti baannee mudhinna; ifille wodanaa nama maraatiif fuula Waaqaa duratti ifa goona.

³ Oduun Gammadaa ta nuuti lallannu yoo gollantelle, worra baduuf gollante.

⁴ Bulchaa biyya lafa tanaa ka te'e Seexanni qalbii worra hin dhugeeffannee jaamseera; inni Oduu Gammadaa ta ulfinna Kiristoosii isaanii issitu, ta bifa Waaqaatiin mudhatte akka isaan hin dhaggine godheera.

⁵ Nuuti Yesuus Kiristoos Gootaa akka te'ee fi nuutille marroo isaatiif tajaajiltoota teessan akka teene lallabaarra malee, marroo teenaa moti.

⁶ Waaqi, «Ifi dukkana keessatti ifuu ti» jedhee dubbate, ifa beekkumsa ulfinna ifii ka fuula Kiristoosii irraa mudhatu, gadhaa keenna keessatti akka ifu godhe.

⁷ Ammoo hunni waan duudii irra caaltu tun, Waaqa irraa malee nu'u irraa akka hin te'in akka beekkamuuf karra ayyaantittii tana akka okkotee faaraa teennee qabanneerra.

⁸ Karaa maraan hin rakkanna, ammoo hin injifatannu; yennaa hedduu waan goonu hin wollaalla, ammoo addii hin kutannu.

⁹ Miidhaan nu'u irra hin geya, ammoo jaalota dhannee hin beennu; dhowannee hin jinna, ammoo hin duunu.

¹⁰ Jiruun Yesuusii nafa keenna irratti akka mudhatu, yennaa duudii du'a isaa nafa keenna irratti ba'annee deddeenna.

¹¹ Jiruun Yesuusii nafa keenna ka du'u irratti akka mudhattuuf, nuuti worri jirruuyyuu marroo Yesuusiitiif yennaa mara du'aaf dabarfannee hin kennanna.

¹² Maarre nuuti yennaa maraa afaan du'aa jirra, isin ammoo afaan jiru'u jirtan.

¹³ Teetuu malee Barreeffama Woyyicha keessatti, «Ani dhugeeffadhe; tanaaf dubbadhe» akkuma jedhante, nuutille ayyaanuma dhugeeffanna'aa san waan qannuuf hin dhugeeffanna. Sababa kanaaf hin dubbanna.

¹⁴ Waaqi ka Gootaa Yesuus du'aa kaase, nu'ulle Yesuus waliin akka kaasuu fi isin wolille'een ifi duratti akka dhikeessu hin beenna.

¹⁵ Akkuma badhaadhi Waaqaa irra caalaa fakkanaa worra hedduu dhaqqabaa deemuun, worri ulfinna Waaqaatiif galata dhikeessu akka heddatuuf tun duudiin isiniif teete.

Dhugeeffanna'aan Jiraatuu

¹⁶ Tanaaf addii hin kutannu. Nafi keenna ka gubba'aa dullooma dadhabaa jiraatulle, nafi keenna ka keessaa guyyuma guyya'aan hin haar-effama.

¹⁷ Rakkoon teenna diqqo'oo fi ta haga yenna'aa tun, ulfinna guddaa bara baraa ka haga hin qanne akka dhaggannu nu gooti.

¹⁸ Nuuti ka eegannu waan hin mudhanne malee, waan mudhatuu moti. Wonni mudhatu ka haguma yenna'aa ti; wonni hin mudhanne ammoo ka haga bara baraa ti.

5

¹ Nafi keenna ka lafa tanaa, ka akka dunkaani'ii keessa leenu yennaa diigame, mana harka namaatiin hin ijaaramin, ka Waaqi ol-gubba'atti ijaare akka qannu hin beenna.

² Ammaa tana nuuti nafa ol-gubba'aa uffatiisaaf dharra'iisaan aadiisatti jirra.

³ Isa san yennaa uffanne qullaa jiraannee hin dhaggannu.

⁴ Dunkaana lafa tanaa keessa haga jirru, ba'aan nu'utti ulfaattee aadaarra; wonni nuuti aadaarruuf duuti jiru'uun jijjiirantee, nafa ol-gubba'aa akka uffannuuf malee, nafa keenna ka lafa tanaa irraa adda bayiisa barbaanneetii moti.

⁵ Jijjiirama kanaaf ka nu qopheesselle Waaqa; san caalaalle waan nu'uuf kennamu maraaf akka qaddii te'uuf, ayyaana ifii ka nu'uuf kenne isa.

⁶ Nafa keenna ka lafa tanaatiin haga jirru, Gootaa irraa ka fagaanne akka teene yoo beennelle, yennaa maraa isatti addanna.

⁷ Nuuti ka jiraannulle dhugeeffanna'aan malee, isa dhaggiisaanii moti.

⁸ Nuuti nafa akka mana keennaa te'e kana irraa adda baanee, Goottaa waliin jiraatiisaaf hin halchina; tanaaf ifi addi'in leena.

⁹ Nuuti nafa keenna kanaan jiraannulle, jiraatuu dhannulle, yaadi keenna Goottaa gammachiisu'u.

¹⁰ Nami tokko tokkonuu nafa ifitiin adoo jiruu, waan dansaalle te'e hantuu godheef, akkuma hujii ifiititti gatii dhaggatiisaaf, nuuti martinuu fuula barcumaa mura'aa ka Kiristoosii duratti dhikaatuu qanna.

Kolbaa Waaqaan Araarsuu

¹¹ Tanaaf Goottaa sodaatiis maan akka te'e waan beennuuf, worra dhibii hin hubachiinna. Nuuti maan akka teenelle Waaqi hin beeka; isinille gadhaa keessan keessatti nuuti maan akka teene akka beettanu hin addadha.

¹² Worra keessa ifitiin adoo hin te'in, waan alaan mudhatuun ifi jajanuuf deebii kenniisa akka dandeettanu, nu'uun akka ifi jajjanuuf malee, nuuti ammalle deebinee ifi saadiisaafii moti.

¹³ Nuuti maraataa yoo teene Waaqaaf jennee ti; worra qalbii qabu yoo teenelle isiniif jennee ti.

¹⁴ Kiristoos nama duudi'iif akka du'ee fi nami duudiin du'a isaa ka qoodamu akka te'e waan hubanneef, jaalalli isaa nu dirqansiisa.

¹⁵ Worri jiru'uun jiru duudiin, isaaniif jedhee ka du'ee du'aa ka'eef akka le'anuuf malee, hagara achi akka ifiif hin leene, Kiristoos nama maraaf du'e.

¹⁶ Maarre nuuti ammaa achi eennulle'etti fuula ilaallee hin murru. Tanaan gara Kiristoositti akkana gooneelle yoo jiraanne, hagara achi akkana hin goonu.

¹⁷ Tanaaf eennulle Kiristoosiin yoo jiraate inni dada haareya; dadi dullattiin tartee, dadi haaretti dhutteerti.

¹⁸ Tun duudiin Waaqa karaa Kiristoosiitiin ifi waliin nu araarsee fi tajaajila araarsiisaa nu'uu kenneen teete.

¹⁹ Tunille Waaqi Kiristoosiin kolbaa biyya lafaa duudii ifi waliin araarsiisatti jiraayyu jechu'u; yakkaa namootaalle itti hin laakkonne; nu'ulle'eef jecha namoota Goottaa waliin araarsinu kenne.

²⁰ Waaqi karaa keennaan namoota waan yaamuuf, nuuti bakka bu'oota Kiristoosii ti; tanaaf, «Waaqa waliin araarama'a» jennee maqaa Kiristoosiitiin isin kadhanna.

²¹ Akka nuuti worra karaa Kiristoosiin tokkummaa dhugaamettii* Waaqaa waliin qoodamu teenu, Waaqi Kiristoosii cubbuu hin qanne, akka cubbuu teenna mara ba'atu godhe.

6

¹ Nuuti Waaqa waliin ka hunyu waan teeneef, badhaadha Waaqaa ka fudhattane akkanumaan hin balleessina'a jennee isin kadhanna.

² Waaqi,
«Yennaa na biratti fudhatama qaddutti
ani si caqase;
Guyyaa fayyinna keetii,
ani si qarqaare» jedha.

Kunoo dhage'a'a yennaan fudhatama qaddu amma; guyyaan fayyinnaalle adha.

³ Tajaajilli keenna akka hin tuffatanne, eennulle'eef gufuu hin teenu.

⁴ Addee akkasii waan goonu maraan akka tajaajiltoota Waaqaatitti rakkoo, farraa fi muddama ossiisaan ifi dhikeessina.

* **5:21** Tokkummaa dhugaamettii: Balchummaa

⁵ Akki ifi dhikeessinulle: dikamiisaan, hidhamiisaan, raafamiisaan, huji'iin dadhabiisaan, hirriiba dhabiisaa fi beelaan;

⁶ akkasuma qulqullumma'aan, beekkumsaan, ossaan, arjumma'aan, Ayyaana Woyyichaana sooreffamiisaa fi jaalala dhuga'aatiin,

⁷ jecha dhuga'aatii fi hunna Waaqaatiin. Hubiisaa fi ifi irraa dhooggati-isaafille, mey keenna ka woraanaa balchumma'a.

⁸ Nuuti ulfinnaa fi salphinnalle fudhanneerra; komatamiisaa fi leelli-famiisalle fudhanneerra; dhugaameyyii adoo teeneerruu, dharaameyyii jedhanneerra;

⁹ ka beekkanne adoo teeneerruu, akka hin beekkamin teene; du'aneeran yoo jedhanu, jiru'uun jiraannee dhagganna; dikannulle hin ijjeefanne;

¹⁰ gaddi nu dhaqqabulle, yennaa mara hin gammanna; hiyyeeyyii adoo teeneerruu worra hedduu dureeyyii goona; womaa ka hin qanne adoo teeneerruu, waan maraa qanna.

¹¹ Worra Qorontoos keessa leetanu! Nuuti ifa tolchinees isinitti dubbanneerra; gadhaa keennalle badhinnee isinii banneerra.

¹² Isinumatti gadhaa nu irraa kutate malee, nuuti isin irraa hin kutanne.

¹³ Akkuma nuuti gadhaa isinii badhanne, isinille gadhaa nu'uuf badhadha'aa jedhee akka ijoollee tiyyaatitti isinitti dubbadha.

Worra Hin Dhugeeffanne Woliin Hin Xaxamina'a

¹⁴ Worra hin dhugeeffanne woliin hin xaxamina'a. Balchumma'aa fi cubbuun attam wol qabatuu dande'an? Ifaa fi dukkanti attam woliin jiraatuu dande'an?

¹⁵ Kiristoosii fi Seexanni attam wolii galuu dande'an? Nami dhugeeffatuu fi nami hin dhugeeffanne maan woliin qaba?

¹⁶ Galmi Waaqaa, waaqota dharaa woliin woliigaltee maan qaba? Akkuma Waaqinuu,

«Mana kiyya kolbaa tiyya oddu'utti hin godha;
odduu isaaniille hin le'a;

Ani Waaqa isaanii hin te'a,
isaanille kolbaa tiyya hin te'an» jedhe,
nuuti Galma Waaqa jiraata'aa ti.

¹⁷ Ammalle Gootaan,
«Isin odduu isaaniitii fowama'atii baya'a;
waan battii te'e hin tugina'a.

Anille isin hin fudhadha;
¹⁸ Ani Abbaa keessan hin te'a,
isinille ilmaan tiyya ta dhiiraatii fi durraa hin teetan
jedha Gootaan waan mara dande'u» jedheera.

7

¹ Jaalota tiyya, addiin tun duudii waan nu'uu kennanteef, waan nafaa fi ayyaana keenna xureessu duudii irraa kowa'a ifi qulqulleessina; Waaqalle sodaataa woyyummaan teenna mijuu akka teetu kowa'a goona.

Gammada Phawuloosii

² Gadhaa nuu badhadha'a. Nuuti nama tokkolle hin yakkine; nama tokkoolle hin miine; yookiin eennulle itti fayyadama keenna* hin godhanne.

³ Ani yakkaa isinitti muru'uuf tana jedhiisatti hin jiru; akkuma ani tanaan qara isinitti hime isin gadhaa keenna keessa jirtan. Tanaaf jiru'uu fi du'alle'een yennaa mara isin irraa gargar hin baanu.

* **7:2 Itti fayyadama keenna:** Haajaa keenna itti baafata

⁴ Addiin ani isin irratti qabu guddo'o; guddoo isiniin ifi jaja; guddoolle jajjabaadheera; rakkoo teenna mara keessatti ani akka malee gammade.

⁵ Yennaa lafa Maqedooniya'aa geennelle, rakkoon karaa adda addaatiin nu dhagqadde malee hin foorfanne; alaan lola, keessa keennaan sodaa qannaayyu.

⁶ Waaqi worra se'a[†] cabe jajjabeessu ammoo, dhufa Tiitoosiitiin nu jajjabeesseera.

⁷ Nuuti dhufa isaa gofaan adoo hin te'in, akka isin isa jajjabeessitanelle waan dhageenneef jajjabaanneerra. Akkasuma dharraa, gaddaa fi yaaddoo naaf qaddanu yennaa nu'utti hime, ani caalaa gammade.

⁸ Ergaan ani tanaan qara isiniif barreesse ta isin gaddisiittu teetulle, ergaa san waan barreesseef hin gaabbu; gaabbee yoo jiraadhelle ergaan tiyya haga diqqo'oof waan isin gaddisiitteef gaabbe.

⁹ Amma ammoo waan isin gaddisiiseef adoo hin te'in, gaddi keessan akka cubbuu irraa deebitanu waan isin godheef ani hin gammada. Gaddi keessan akka fedha Waaqaa waan te'eef, nuuti waan tokkolle'een isin hin miine.

¹⁰ Gaddi akka fedha Waaqaa te'e, nama cubbuu irraa deebisee gara fayyinaa geessa malee, hin gaabbisiisu. Gaddi biyya lafaa ammoo du'a fida.

¹¹ Gaddi keessan ka akka fedha Waaqaa te'e kun haajamuu attamii, falmata attamii, mufii attamii, sodaa attamii, dharraa attamii, hinaaffaa attamiitii fi dokonkora adabiisa akka feetanu akka isin godhe ilaala'a. Isin ammoo waan ani tanaan dura isinii barreesse irraa bilisa akka teetane mirkaneessitaneertan.

¹² Maarre ani isiniif barreessulle, hinaaffaan isin fuula Waaqaa duratti nu'uuf qaddanu akka isiniif ifa teetu malee, marroo nama yakkaa hujeetii fi yakkametiifii moti.

¹³ Jajjabeenna keenna caalaa gammada Tiitoos dhaggateen ka caalu gammanneerra; wonni nuuti gammanneefille isin duudiin Tiitoos waan jajjabeessitanee fi yaada isaa foorfachiittaneef.

¹⁴ Ani ifi jajiisa isiniin qabu Tiitoositti himeeraayyu; isinille na hin qaanessine; nuuti yennaa maraa dhugaa isinitti hinneerra; maarre ifi jajiis marroo teessaniif Tiitoositti hinne, dhugaa akka teete mirkanootteerti.

¹⁵ Isin duudiin Tiitoosiif ajajamaa, soda'aa fi rorommiisaan akka isa fudhattane yennaa qaabatu, jaalaltiin inni isiniif qabu ittuma ede'ante.

¹⁶ Ani karaa maraan isinitti addatiisa waan dande'eef guddoo gammadeera.

8

Arjooma Kiristaanaa

¹ Obboleeyyan tiyya! Badhaadha Waaqi wolde'oota kiristaana lafa Maqedooniya'aatiif kenne akka beettanu barbaanna.

² Isaan rakkinna gudda'aan haga ilaallamaneeran; te'uu malee gammadi isaanii gudda'a; isaan akka malee hiyyeeyyii te'anulle, guddoo arjoomaneeran.

³ Isaan haga dande'anuu fi haga dande'anuu caalaa, fedhii ifitiin akka kennane ani isaanii dhugaa hin baya.

⁴ Carraa qarqaarsa kolbaa Waaqaa ta biyya Yihuda'aa keessa jirtuuf kenniisa irratti hirmaatiisaaf magannifatanee nu kadhatane;

⁵ haga nuuti isaan irraa eenne caalaa godhane; matooma Goota'aaf ifi kennane; itti aansaneelle fedha Waaqaatiin ifi nu'uuf kennaneeran.

⁶ Hujii tana matooma ka jalqabe Tiitoos waan te'eef, ammalle hujii arjoomaa tana akka muummessu isuma kadhanneerra.

⁷ Isin dhugeeffanna'aan, haasowaan, beekkumsaan, qarqaariisaaf quxixuxamiisaan*, jaalala nu'uuf qaddanulle'een waan maraan hin caaltan; hujii arjoomaa tanalle'een ka caaltanu te'a.

⁸ Maarre quxixuxamiisa worri dhibiin kenniisaaf qabu keessaniin wol bira qabee ilaaliisaan, jaalaltiin teessan ta dhuga'aa akka teete mirkaneessiisaaf jedheeti malee, isin ajajiisaafii moti.

⁹ Isin badhaadha Gootaa keenna Yesuus Kiristoosii hin beettan; inni dureessa adoo te'eeruu, hiyyummaa isaatiin akka isin dureeyyii teetanuuf isinii jedhee hiyyeessa ifi godhe.

¹⁰ Waan kana irratti gorsa isinii dansaa fakkaatee natti mudhate isiniif kenna: Bara engeddaa kenniisa qofaaf adoo hin te'in, waan kana godhiisaaf matooma isinitti barbaade.

¹¹ Tanaaf quxixuxiin isin kenniisaaf qaddanu hujii irra ooltee akka muummottu, haguma qaddanutti waan yaaddane san godha'a.

¹² Nami tokko kenniisaaf quxixuxama yoo qabaate, kennansi isaa fudhatama ka qabaatu, haga qabutti yoo kenne malee, haga hin qanne yoo kennee moti.

¹³ Kana jechuun kiyya ifii dhaddanee worra dhibii rakkoo keessaa akka baattanuu adoo hin te'in, isin lamaanuu akka wol qixxoottanu.

¹⁴ Isin yennaa rakkattan karri isaanii rakkoo teessaniif akka ooltu, karri teessan amma rakkoo isaaniitiif ooltuu ti. Akka kanaan isin wodhakka'atti wol qixxummaan hin jiraatti.

¹⁵ Kunille akkuma Barreeffami Woyyichi, «Ka guddaa wolitti qabate haagaan ol hin qabaanne, ka diqqoo wolitti qabatelle haagaan gad hin qabaanne» jedhu.

Tiitoosii Fi Waa'eloota Isaa

¹⁶ Akkuma ani isiniif quxixuxamu, Tiitoosille akka isiniif quxixuxamu Waaqi godhe galatoomu.

¹⁷ Tiitoos waan nuuti isa kadhanne qofaaf adoo hin te'in, fedhii ifitiin ka'ee gammadaan gara keessan dhufe.

¹⁸ Isa waliin obboleessa Oduu Gammadaa lallabiisaan wolde'oota kiristaanaa duudii keessatti kabajamaa te'e ergaarra.

¹⁹ Obboleessi kun kana qofa adoo hin te'in, hujii dansaa tana ulfinna Goota'aatiif yennaa nuuti muummessinuu fi fedhii dansaa tajaajiliisaaf qannulle yennaa mudhinu, nu waliin deemiisaan qooda huji'ii nu waliin akka fudhatu wolde'oota kiristaanaatiin fowameera.

²⁰ Kennansa arjoomaa ka wolitti qabame kana qabiisa irratti eennulle akka nu hin komanne ifi eeganna.

²¹ Yaad keenna waan sirrii te'e fuula Goota'aa duratti callaa adoo hin te'in, fuulaa worra dhibi'ii durale'etti huju'u.

²² Yennaa hedduu karaa heddu'uun haga isa ilaallee, akka inni nama qarqaariisaaf quxixuxamaa te'e waan dhaggineef obboleessa keenna Tiitoos waliin ergineerra; addiin inni isinitti qabu guddoo waan iteeteef, amma hujii tana qarqaariisaaf ka durii caalaa inni quxixuxi jedheera.

²³ Marroo Tiitoosii beekiisa yoo barbaachise, inni isin qarqaariisaaf waa'ela kiyya ka na waliin huju; isa waliin ka dhufanu marroo obboleeyyan dhibi'ii yoo teete, isaan bakka bu'oota wolde'oota kiristaanaa ka ulfinna Kiristoosiitiif dhaabbataneeranu.

* **8:7** *Quxixuxamiisaan: Ququxamiisaan*

²⁴ Tanaaf akka wolde'ooti kiristaanaa jaalalli keessan ka dhuga'aa akka te'ee fi maaf akka nuuti isiniin ifi jajnu akka dhagganu, jaalala keessan isaanii mudhisa'a.

9

Qarqaarsa Kolbaa Waaqaatiif Godhame

¹ Marroo qarqaarsa kolbaa Waaqaa ta Yihudaa keessa jirtuuf godhamuu, isiniif barreessuun barbaachisa'aa moti.

² Ani quxiquxamuu keessan waan beekuuf, «Worri Akaayya'aa bara engageddaatiin jalqabee qarqaariisaaf qophoweera» jedhee marroo teessaniif worra Meqedooniya'aa biratti ifi jaje; quxiquxamuun keessanille worra hedduu kakkaaseera.

³ Marroo teessaniif wonni ani waan kana irratti ifi jaju, soba teetee akka hin hanne amma obboleeyyan tana ergaara; isin ammoo akkuma ani jedhetti qophowa'aa eega'a.

⁴ Worri Maqedooniya'aa na woliin dhufee, adoo isin hin qophowin yoo dhagge, nuuti isinitti addachuu keennaan waan jennu dhannee hin qaanonna; isin fa'a guddoo qaanottan.

⁵ Maarre obboleeyyan tun anaan dura gara keessan dhufanee, qarqaarsa arjoomiisaaf waadaa galtane dura keessa akka qopheessitanu akka isin qaabachiisanuuf, gara keessan erguun barbaachisaa te'ee natti mudhateera. Akka kanaan ani yennaa dhufu kennansi arjoomaa keessan ka qophowe te'a; isinille dirqamaan adoo hin te'in fedhi'iin akka kennitanu beessisa.

⁶ «Ka diqqoo facaase diqqoo galfata; ka hedduu facaase hedduu galfata» yaada jedhu qaabadha'a.

⁷ Tanaaf Waaqi nama gammadaan kennu waan jaalatuuf, nami tokko tokkonuu waan gadhaa ifitiin kenniisaaf barbaade gammadaan kennuuti malee, gaabbaa yookiin hunnaan hin kennin.

⁸ Yennaa mara waan isinii barbaachisu maraa ifii qabaattanee, hujii dansa'aafille ka geyee hafu akka qaabattanu Waaqi badhaadha ifii bira dabarsee isinii kennuu hin dande'a.

⁹ Kunille akkuma Barreeffam Woyyichi, «Worra hiyyeeyyi'iif arjoomaan kenne;

balchummaan isaalle haga bara baraa jiraatti» jedhu.

¹⁰ Waaqi ka facaasuuf sanyii, ka nyaatuuf sagalee kennu, sanyii facaattanu mara isinii kennee akka guddattu hin godha; midhaan arjummaa* teessaniille hin fakkansa.

¹¹ Worri arjummaa teessan karaa keennaan fudhatu mara, Waaqa akka galateeffatuuf yennaa maraa akka arjoontanu, Waaqi waan maraan isin hin duroonsa.

¹² Tajaajilli keessan kun dhidhuu kolbaa Waaqaa guutiisa qofa adoo hin te'in, akka galata guddaa Waaqaaf dhikeessanu godha.

¹³ Tajaajilli arjooma keessanii kun, Wongeela Kiristoosii fudhattanee ajajamuu keessan, isaanii fi worra dhibiille'eef arjoomuu keessan waan mirkaneessuuf, nami hedduun Waaqa hin leellisa.

¹⁴ Isaanille badhaadha guddaa Waaqi waan isinii kenneef, isin dharra'aa isinii daadimatan.

¹⁵ Kennaa isaa ta hagana hin jedhanneef, Waaqi galatoomu.

10

Phawuloos Tajaajila Ifitiif Falmate

* **9:10** Midhaan arjummaa: Balchummaa

¹ Ani Phawuloos yennaa isin bira jiru nama, «Nama ila laafu» jedhame; yennaa isin irraa fagaadhe ammoo, «Nama ila jabaatu» jedhame; gadhi laaffinnaa fi arjummaa Kiristoosiitiin,

² ani yennaa isin bira dhufe ila jabeennaan akka na hin dubbachiinne isin kadhada; worra akka yaada fooniititti deddeebina nu seyanu duratti ammoo, ila jabeennaan dubbatiisaaf barbaada.

³ Biyya lafaa keessa leenulle, nuuti akka biyya lafaa hin lollu.

⁴ Mey woraanaa* keennalle ka kushee diigiisaaf dandeessisu, ka hunna Waaqaa qabu malee, meya woraanaa ka biyya lafaatii moti.

⁵ Waaqa beekiisa irratti moroma'aa fi kijiba gufuu te'ee ka'u duudii hin balleessina; yaada namaa duudiille booji'aa Kiristoosiif akka ajajamu goona.

⁶ Eega ajajamuun keessan muummowe, ajajama dhaba duudii adabiisaaf hin qophoonna.

⁷ Isin waan ila duratti mudhatu qofa ilaaltan. Nami tokko ani ka Kiristoosii ti jedhee yoo ifi addate, nuutille akkuma isaatuu ka Kiristoosii te'uu kenna hubatuu ti.

⁸ Marroo baallii Gootaan nuu kenneetiif, yoo guddoo ifi jajelle itti hin fokkiffadhu; baalliin tun isin ijaariisaaf malee, isin diigiisaaf hin kennanne.

⁹ Ani xalayaa kiyyaan akka waan isin sodaachisiisatti jiruu akka yaaddanu hin fedhu.

¹⁰ Worri gariin, «Ergaan Phawuloosii jajjaddu'uu fi ulfaattu'u; inni ammoo yennaa nu biratti dhaggamu dadhaba'a; dubbiin isaalle goofa» jedhan fa'a teeti.

¹¹ Worri akkasii waan nuuti fagoo jiraannee barreessinu fi waan yennaa isin waliin jirru hunyu odduu garaa garummaan akka hin jirre hubatuu ti.

¹² Nuuti worra ifi saadutti ifi laakkowu'uuf yookiin isaaniin wol biratti ifi qannee ilaaliisaaf ila hin jabaannu. Isaan ammoo ifiinuu ifi waan madaalanuu fi ifiinuu ifi wol biratti qabannee ifi waan ilaalanuuf gowwoole'e.

¹³ Nuuti ammoo haga isin bira geennulle'etti, meessaa tajaajila Waaqi nuu kenneen ifi jajaarra malee, haga irra tarree ifi hin jajnu.

¹⁴ Isinille meessaa tajaajila keennaa keessa waan jirtanuuf, nuuti Oduu Gammadaa ta Kiristoosii gara keessan finnee yennaa dhunne meessaa san hin tarre.

¹⁵ Tanaaf meessaa Waaqi nuu murteesse irra dabarree, hujii worra dhibi'iitiin haga malee ifi hin jajnu; addee akkasii dhugeeffannaan teessan akka guddattuu fi hujii teennalle haga meessaa Waaqi nuu murteesseetitti, odduu teessanitti irra caalaa akka babadhatu hin addanna.

¹⁶ Maarre meessaa tajaajila nama dhibi'ii keessa seennee, hujii tanaan qara hujanteen adoo ifi hin jajin, biyyoota isiniin gamaatille'etti Oduu Gammadaa lallabuu hin dandeenna.

¹⁷ Ammoo akkuma Barreeffam Woyyichi jedhutti, «Ka ifi jajuu Goota'aan ifi jajuu ti».

¹⁸ Sababille nama Gootaan saadutti fudhatama qaba malee, nami ifi saadu fudhatama hin qabu.

11

Phawuloosii Fi Ergantoota Sobaa

¹ Ani diqqoo gowwoomulle akka naa ossattanu hin addadha; maganne'ee na ossadha'a.

* **10:4** Mey woraanaa: Miyyi woraanaa

² Ani akka durra duudduu qulqullitti'ii Kiristoosii abbaa manaa tokkochatti, isin heerumsiisiisaaf waan isin kadhaddheeruuf, akkuma Waaqi hinaafu anille isin hinaafa.

³ Akkuma bofi maltumma'aan Heewwan sobe, yaadi keessanille gara badee qajeelumma'aa fi qulqullummaa Kiristoosiif qaddanu irraa isin milissinaa laati jedhee sodaadha.

⁴ Nami tokko gara keessan dhufee, Yesuusii nuuti isinitti lallanne malee, Yesuusii dhibii yoo isinitti lallabe yookiin ayyaana kanaan dura fudhattane malee, ayyaana dhibii yoo fudhattane yookiin Wongeela tanaan dura fudhattane malee, Wongeela dhibii yoo fudhattane, cadhittanee itti ilaaltan* jechu'u.

⁵ Ani ammoo karaa tokkolle'een ergantoota guguurddoo tana irraa waan diqqaadhu hin seyu.

⁶ Ani dandeettii dubbi'ii dhabulle, beekkumsa hin qaba; nuuti yennaa maraa karaa maraan waan kana ifa isiniif gooneerra.

⁷ Ani gatii malee Oduu Gammadaa ta Waaqaa waan isinii lallabeef, akka isin ol jettanuuf ifi gad qabuu kiyyaan cubbuu hujee ree?

⁸ Isin tajaajiliisaaf, wolde'oota kiristaanaa dhibii irraa qarqaarsa waan fudhadheef, ani isaan saameera.

⁹ Yennaa isin woliin jiraataa woy dhabee rakkadhe, obboleeyyan Maqedooniya'aa dhufane waan naa barbaachisu maraan waan na qaraqaaraneef, ani nama tokkolle'etti ba'aa hin teene. Akkuma tanaan dura ba'aa isinitti te'uu dhabe, gara duraalle ba'aa isinitti hin te'u.

¹⁰ Dhugaan Kiristoosii haga na keessa jirtu, eennulle ifi jajuu kiyya kana lafa Akaayya'aa keessatti na hin dhooggu.

¹¹ Ani waan isin hin jaalanneef kana jedhaa? Akka ani isin jaaladhu Waaqinu hin beeka.

¹² Ergantooti dhibiin sun, «Nuutille akkuma isaanii hujaarra» jedhaa sababa ittiin ifi jajanu isaan dhassiisiisaaf, akkuma amma godhiisatti jiru gara duraalle hin godha.

¹³ Namooti akkasii ergantoota Kiristoosii fakkaatiisaaf worra ifi jijjiiru, ergantoota sobaatii fi hojjattoota maltoole'e.

¹⁴ Kunille waan nama baaseffachiisuu moti; Seexanninuu ergantoota ifaa fakkaatiisaaf ifi jijjiira.

¹⁵ Tanaaf tajaajiltooti Seexanaa tajaajiltoota balchumma'aa fakkaatiisaaf yoo ifi jijjiirane hin baaseffachiisu. Muummee irratti gatii hujii ifii hin dhaggatan.

Phawuloos Ergamaa Te'iisaan Rakkate

¹⁶ Ani ammalle isiniin jedha; eennulle gowwaa na hin seyin; yoo seetane ammoo diqqumalle akka ifi jajuuf akka gowwa'aatitti na fudhadha'a.

¹⁷ Akka kana ifi jajiisaan yennaa dubbadhu akka gowwa'aa te'eeti malee, akka fedha Goota'aatii moti.

¹⁸ Worri hedduun akka yaada fooniititti ka ifi jaju eega te'e, anille ifi hin jaja.

¹⁹ Isin qaroolee waan teetaneef, gowwoolee gammadaan hin ossattan.

²⁰ Nami yoo garba isin godhate yookiin yoo isin irra nyaate yookiin bu'aa ifitiif yoo isin fayyadame yookiin yoo isin tuffate yookiin yoo isin dhabanaase hin ossattan.

²¹ Nuuti ammoo waan saniin dadhaboolee te'uu kennaan fokkifataa dubbadha.

* **11:4** *Cadhittanee itti ilaaltan*: Fudhattan **11:9** Filp. 4:14-18

Eennulle ifi jajiisaaf ila yoo jabaate, anille akkuma isaa ila jabaadhee ifi jaja. Ammalle akka gowwa'aa te'ee tana jedha.

²² Isaan worra Ibirootaati? Anille nama Ibirootaa ti. Isaan worra Israa'eliitii? Anille nama Israa'elii ti. Isaan sanyii Abrahaamiitii? Anille sanyii Abrahaamii ti.

²³ Isaan tajaajiltoota Kiristoosiitii? Ani isaan caalaa tajaajilaa Kiristoosii ti. Ani akka maraata'aa tana dubbadha; ani isaan caalaa yennaa hedduu huji'iin dadhabeera, yennaa hedduu hidhameera, yennaa hedduu dikameera, yennaa hedduulle du'a geyeera.

²⁴ Ani lichee soddonii sagal sagal yennaa shan harka Yihudootaatiitti dhaanameera.

²⁵ Yennaa sad ciira'aan dhaanameera; yennaa tokko dhaka'aan tumameera; yennaa sad caccab hoboloo gudditti'ii na dhaqqabeera; guyyaa tokkoo fi halkan tokko galaana irra oolee buleera.

²⁶ Yennaa hedduu ideensa irra waan tureeruuf, balaan laga guutee, balaan saantotaa, balaan gosa tiyyaati fi worra Yihudoota hin te'in irraa, balaan qacha'aa fi gammoojjii keessatti, balaan abbaayaa keessalle'etti, balaan kiristaanota dharaameyyii irraa na dhaqqabeera.

²⁷ Hujii hantuu hujee, akka malee eloweera; yennaa hedduu hirriiba dhabeera; yennaa hedduu beelodhee dheebbodheera; yennaa hedduulle sagalee dhabeeraayyu; boojji'ii fi daara dageera.

²⁸ Waan dhibii lakkisii marroo wolde'oota kiristaanaatiif, guyyuma guyya'aan hedaa yaaddowaa ture.

²⁹ Eentu dadhabeeruun, ani dadhabuu dhabeera? Eentu cubbu'uun gufatuun, gadhaan na laalatu dhabeera?

³⁰ Ifi jajiis yoo barbaachise, ani waan dadhabbii tiyya mudhisuun ifi jaja.

³¹ Waaqi, Abbaan Gootaa kenna Yesuus Kiristoosii, ka haga bara baraa galateeffame, akka ani sobaa hin dubbanne hin beeka.

³² Yennaa ani qachaa Damaasqo'oo keessa jiru, bulchaan mooticha Areexaasiin jalatti bulchiisatti jiru, na qassiisiisaaf barbaadee, karroota qacha'aa eeddotaan eessisaa ture.

³³ Namooti ammoo, qiriccoo keessa na keyanee urata dalleyaatiin na buusaneeranuun isa jalaa miliqe.

12

Mudhii Phawuloosii

¹ Ifi jajiisaan bu'aan dhaggamu jiraatuu dhabulle, ifi jajiisa yoo barbaachise yaadaan dhaggu'uu fi mudhii Gootaan naaf kenneen ifi jaja.

² Nama ka Kiristoosii te'e tokko beeka; nami kun woggaa kudha afuriin dura, haga ol gubbaa olii fudhatame; akki inni fudhatamelle nafaan te'uu yookiin te'uu dhabuu ani hin beeku; Waaqi hin beeka.

³ Ifii ammoo nami kun gara addee gammadaa akka fudhatame hin beeka; teetuu malee nafaan te'uu yookiin te'uu dhabuu ani hin beeku; Waaqi hin beeka.

⁴ Inni gara addee gammadaa fudhatamee, waan jecha namaatiin himamiisaa fi namille dubbatiisaaf hin dandeenne dhage'e.

⁵ Ani nama akkana jiruun ifi jaja; marroo ifii kiyyaa ammoo, dadhabbii tiyya malee waan ifi jajadhuun hin qabu.

⁶ Ani dhugaa waan dubbataaruuf, ifi jajiisa yoo barbaadelle ani hin gowwoomu; ammoo eennulle waan na irratti dhagguu fi waan na irraa dhage'u caalaa akka hin herrenneef, ifi jajuu irraa ifi qusadha.

⁷ Mudhii guddoo tanaan ta kaate akka ani hin koorre, wonni akka qore'ee nafa kiyya woraane na farrisiisu, ergamaan Seexanaa naa kenname.

⁸ Wonna na rakkisu kun, akka na lakkittu yennaa sad gara Goota'aa daadimadhe.

⁹ Inni ammoo, «Hunni tiyya mijuu teetee ka mudhattu yennaa ati dadhabaa teete waan teeteef, badhaadhi kiyya si hin geya» anaan jedhe. Tanaaf hunni Kiristoosii akka ana irra jiraattu, ka durii caalaa dadhabbii tiyyaan gammadaa ifi jajiisa barbaada.

¹⁰ Ani hunna ka dhaggadhu dadhabaa yennaa te'utti waan teeteef Kiristoosiif yennaa dadhabu, yennaa arraffamu, yennaa rakkadhu, yennaa miidhamu fi yennaa yaaddawu hin gammada.

Yaada Phawuloos Worra Qorontoosiitiif Qabu

¹¹ Ani akka gowwa'aa dubbadhe; akka ani akkas dubbadhu isinitti na godhe; na deeggaruu ka qaddanu silaa isin; ani woyittuu laakkowamuu dhabulle, worra ergantoota gugurdoo jedhamane karaa tokkolle'een hin hanqadhu.

¹² Ani yennaa odduu teessan jiru, hujiin ani ossaan huje, akka ani ergamaa dhuga'aa te'e hin mirkaneessiti. Kunille beessisa, baasaa fi bilbaasota.

¹³ Ani ijjumaa isinitti ba'aa te'a dhabuu kiyya malee, ani maaniin wolde'oota Kiristaanaa dhibii isin hangise? Tunille akka yakka'atitti ta laakkowantu yoo teete naa araarama'a.

¹⁴ Gara keessan dhufiisaaf qophowuun kiyya, amma yennaa sadeesso'oo ti; ani isinitti ba'aa te'iisa hin fedhu; ani ka barbaadu isin malee, beesse teessanii moti. Ijoollee ifitiif karra ka kuusu worra malee, ijoolleen worra ifitiif karra hin kuuchu.

¹⁵ Ani isiniif jedhee waan qabu duudii, ifille dabarsee adoo isiniif kenne guddoo hin gammada. Eega ani akkana guddisee isin jaaladhe, isin diqquma na jaalatani ree?

¹⁶ Maarre teetuutii, akka ani isin irratti ba'aa hin te'in tana wolii galla; ammoo maltumma'aa fi sobaan waan harkatti isin galfadhe seyaartan.

¹⁷ Ani namoota gara keessan erge keessaa, karaa nama tokkochaatille'een woy isin irraa nyaadheera ree?

¹⁸ Tiitoos gara keessan akka dhufu kadhadee, obboleessa keenna sanille isa waliin ergeera. Tiitoos woy isin irraa nyaateeraa ree? Anii fi inni ayyaana tokkoonii motii ka isin tajaajille? Ideensi keennalle tokkoo motii ree?

¹⁹ Isin duudiin haga ammaa, waan nuuti isin duratti marroo teennaaf falmataarru gootanee ilaalaartanii? Nuuti Kiristoosiin jiraannee, Waaqa duratti dubbataarra. Jaalota tiyya! Nuuti isin ijaariisaaf jennee tana duudii dubbataarra.

²⁰ Yennaa ani gara keessan dhufu akka ani barbaadu adoo isin hin te'in, anille akka isin barbaaddanu adoo hin te'in, takki wol dhaggina fa'a jedhee sodaadha. Takki fa'a lolli, hinaaffaan, aariin, ifi jaalatuun, maqaa namaa balleessuun, hamiin, kooriisaa fi hogaan odduu teessan jiraatuu jedhee sodaadha'a.

²¹ Deebi'ee gara keessan yennaa dhufu, Waaqi kiyya isin duratti na fokkisiisa jedhee sodaadha; tanaan gara worri cubbuu battumma'aa, sagaa-galumma'aatii fi baalagumma'aa hujane, waan cubbuu irraa hin deebi'iniif gadda keessa bu'innaa jedhee sodaadha.

¹ Gara keessan dhufiis kiyya kun yennaa sadeesso'oo ti; akkuma Barreeffam Woyyichi jedhu, «Himannaan marti dhugaa baatota lamaan yookiin sadiin mirkanooti».

² Ani yennaa lammeesso'oo isin ilaaliisaaf dhufee isin waliin jiru, isin ifi eeggachiiseera. Ammalle fagoo jiraadhee, worra tanaan qara cubbuu hujee fi worra dhibiille ifi eeggachiisa; amma yennaa gara keessan deebi'ee dhufu eennulle hin hilu.

³ Isin ka ana keessa jiraatee dubbatu Kiristoos akka te'e mirkaneeffatiisaaf barbaaddan; ka isin keessatti mudhatulle hunna isaa ti malee, dadhabbi isaatii moti.

⁴ Inni fannoo gubba'atti fannifamee ka du'e dadhabbi'iin te'ulle, amma hunna Waaqaatiin jiru'uun le'a; nuutille isa waliin dadhaboolee teeneerra; tokkummaa isin waliin qannuun ammoo, isa waliin hunna Waaqaatiin leena.

⁵ Dhugeeffanna'aan akka jirtanu beekiisaaf ifi qorqora'a; haga ifi ilaala'a; Yesuus Kiristoos akka isin keessa jiru hin hubannee? Yoo akkas hin te'in haga ilaallatamaan jiddaneertan jechu'u.

⁶ Nuuti haga ilaallatamaan akka hin jigin hin beettan jedhee addadha.

⁷ Waan hantuu akka isin hin hunye, gara Waaqa daadimanna; wonni daadimannuufille nuuti haga ilaalcha taruu dhannee yoo dhagganee, isin yennaa maraa waan dansaa akka gootanuuf malee, haga ilaalcha tariisa keenna mudhisiisaafii moti.

⁸ Nuuti dhuga'aaf hunya malee, waan dhuga'aan mormu tokkolle hujiisaaf hin dandeennu.

⁹ Nuuti dadhaboolee teenee, isin ammoo jajjaba yennaa teetanu hin gammanna; nuuti akka isin mijuu teetanu daadimanna.

¹⁰ Ani waan kanaaf, adoo fagoo jiruu ergaa tana isiniif barreesse; akka kanaan gara keessan yennaa dhufu, baallii Gootaan naaf kenneen ila isinitti hin jabaadhu; Gootaan baallii naaf ka kenne akka isin ijaaruuf malee, akka isin diiguufii moti.

Nageya Muummee

¹¹ Obboleeyyan tiyya! Yoona nageyaan tee'a'a; leetoo teessan sirreeffadha'a; gorsa kiyya dhage'a'a; wolii gala'a; nageyaan le'a'a; Waaqi jaalalaatii fi nageyaa isin waliin hin jiraata.

¹² Sunqata woyyichaan wol sunqataa nageya wol fuudha'a.

¹³ Kolbaan Waaqaa marti nageya isinii dhaanteerti.

¹⁴ Badhaadhi Gootaa Yesuus Kiristoosii, jaalalli Waaqaa, tokkummaan Ayyaana Woyyichaalle isin duudii waliin jiraattu.

Ergaa Phawuloos Gara Worra Galaatiya'aa Erge Seensa

Jechi Oduu Gammadaa ka marroo fayyisaa te'uu Yesuusii dubbatu, addee maratti lallabamaa, worri Yihudoota hin te'in akkuma fudhataa deemaaneen, «Kiristaana te'iisaaf Seera Muuse'ee muummessiis barbaachisa'a moo barbaachisa'aa moti?» gaaffiin jettulle kaate. Asiyaa diqqaa keessa, Galaatiyaa bulchiinsa Rooma'aa keessa jiru keessa, wolde'oota kiristaanaa jiru oddu'utti, «Nami Waaqa duratti balchoomiisaaf Yesuus calla'atti dhugeeffatiisa adoo hin te'in, Seera karaa Muuse'eetiin kenname muummessuu qaba» jedhaa, worri Phawuloosiin mormu jiraayyu.

Phawuloos ergaa Galaatiya'aa tana, worra barsiisa kanaan raafamiisatti jiru, gara dhugeeffannaa sirrii teeteetii fi jiruu kiristaanumma'aa qajeelchiisaaf barreesse. Phawuloos ergamaa Yesuus Kiristoosii te'uu ifii mirkaneessiisaan jalqaba. Ergamaa akka te'uuf ka isa waame Waaqa malee nama akka hin te'inii fi ergaan isaalle gara worra Yihudoota hin te'inii akka te'e tokko-lama'aan dubbata. Foorota dhumaa keessatti, jiruun kiristaanumma'aa, jaalala Yesuusitti dhugeeffatiisa irraa maddu akka te'e mudhisa.

Haadhoo Dubbi'ii

Seensa1:1-10

Baallii Phawuloosii ta ergamumma'aa1:11–2:21

Oduu Gammadaa ta badhaadha Waaqaa3:1–4:31

Bilisumma'aa fi itti gaafatamummaa kiristaanaa5:1–6:10

Yaada buufataa6:11-18

Nageya

¹ Namootaan yookiin karaa nama tokkootiin adoo hin te'in, Yesuus Kiristoosii fi Waaqa Abbaa Kiristoos du'aa kaaseen, ergamaa te'ee ka ergame, ana Phawuloos biraa,

² obboleeyyan na woliin jirtu mara biraa: wolde'oota kiristaanaa ka Galaatiyaa keessa jirtanuuf,

³ Waaqi Abbaan keenna, Gootaan keenna Yesuus Kiristoosille badhaadhaa fi nageya isiniif kennu!

⁴ Akka fedha Waaqa Abbaa keennaatitti, bara hamaa kana keessaa nu bilisa baasiisaaf jedhee, Kiristoos marroo cubbuu teennaatiif ifi dabarsee kenne.

⁵ Baraa haga bara baraatitti Waaqaaf ulfinni te'u! Ameen.

Oduun Gammadaa Dhugittiin Takka'a

⁶ Badhaadha Kiristoosiitiin ka isin waame irraa garagaltanee, gara oduu gammadaa ta biraa ariifattanee deebi'uun keessan na baaseffachiitteerti.

⁷ Worri isin kem'i godhiisaa fi Oduu Gammadaa ta Kiristoosii daddasiisaaf barbaadu waan jiruuf tana jedhe malee, dhugumaan Oduun Gammadaa ta biraa hin jirtu.

⁸ Te'uu malee, nu'ulle yoo te'e, yookiin ergamaa Waaqaa ka ol-gubba'aalle yoo te'e, Oduu Gammadaa ta nuuti isinitti lallanne irraa ta gorte, yoo lallabe ka abaarama te'uu ti!

⁹ Akkuma tanaan dura dubbadhe, ammalle irra deebi'ee dubbadha: een-nulle Oduu Gammadaa ta isin fudhattane irraa ta gorte, yoo isinitti lallabe ka abaarama te'uu ti!

¹⁰ Ani amma nama moo, Waaqa duratti fudhatama dhaggatiisaaf barbaadiisatti jira ree? Yookiin nama gammachiisu'uuf barbaadatiisatti jiraa? Nama gammachiisu'uuf adoo waan barbaadu teete, ani tajaajilaa Kiristoosii hin te'uuyyu.

Phawuloos Ergamaa Te'iisaaf Waamame

¹¹ Obboleeyyan tiyya! Oduun Gammadaa ta ani isiniif lallabe, ta nami ifi keessaa maddisiise akka hin te'in, akka beettanu barbaada.

¹² Oduu Gammadaa tana, Yesuus Kiristoositti natti mudhise malee, ani eennulle irraa hin fudhanne, yookiin eennulle na hin barsiinne.

¹³ Yennaa duri dhugeeffannaa Yihudootaa hordofu, attam akka ani le'e dhageettaneertan; ani wolde'a kiristaana Waaqaa akka malee miidhaa* balleessiisaaf wodhaanaa ture.

¹⁴ Worra bara kiyya jiru, lansoota tiyya ta Yihudoota te'ane hedduu, ani dhugeeffannaa Yihudootaa eeggatiisaan hin caala; marroo aadaa abbootii teennaatile'eef akka malee hin hinaafaayyu.

¹⁵ Waaqi ammoo adoo ani hin dhalatin dura na filate; badhaadha ifiitille'een na waame.

¹⁶ Oduu Gammadaa ta marroo Ilma isaa, worra Yihudoota hin te'in oddu'utti akka ani lallabuuf, yennaa Waaqi Ilma ifii natti mudhisiisa jaalate, ani nama tokkolle woliin hin mari'anne;

¹⁷ yookiin gara worra anaan dura ergantoota te'ee Yerusaalem hin dhandhe, ammoo yoosuma gara biyya Arabaa dhagee, achiin duuba Damaasqo'otti deebi'e.

¹⁸ Eegii san woggaa sadiin duuba Pheexroos† ilaaliisaaf gara Yerusaalemii dhagee, isa bira guyyaa kudha shan ture.

¹⁹ Obboleessa Gootta'aa Yaaqoob malee, ergantoota dhibii keessaa tokkolle hin dhaggine.

²⁰ Wonni ani isiniif barreessu kun dhara akka hin te'in, Waaqi hin beeka.

²¹ Ani Yerusaalem dhageen duuba gara biyya Sooriya'aatii fi Qiliqiya'aa dhage.

²² Wolde'ooti kiristaanaa ka Kiristoosii, ka lafa Yihuda'aa keessa jiru, ilaan na dhagganee hin beekanu.

²³ Oduu, «Namichi duri nu miidhaa ture, dhugeeffannaa balleessiisaaf barbaadu san, amma lallabiisatti jira» jettu qofa dhage'aneeran.

²⁴ Sababa kiyyalle'eef Waaqa galateeffatane.

2

Phawuloosii Fi Ergantoota Taan

¹ Eega san woggaa kudha afuriin duuba, Tiitoos ifi faana fudhadhee, Baarnaabaas woliin gara Yerusaalemii deebi'ee dhage.

² Akka ani achi dhaqu, Waaqi natti mudhinnaan dhage. Hujiin ani kanaan dura hujee fi ta amma hujiisatti jiru, tola akka hin banneef jedhee, Oduu Gammadaa ta worra Yihudoota hin te'initti lallabu, sooreyyii gugurdo'oof qofitti hime.

³ Tiitoosiin na woliin jiru, nama Giriikii te'ulle, akka haqanqabaa qabatu hunnaan hin godhanne.

⁴ Te'uu malee obboleeyyan dharaameyyiin tokko tokko, ka luuxanee nu odduu seenane, akka inni haqanqabaa qabatu barbaadaneeraniyyu. Isaan

* **1:13** Miidhaa: Ari'aa **1:13** HuE. 8:3; 22:4-5; 26:9-10 † **1:18** Pheexroos: Afaan Giriikiitiin Keefaa jedham. **1:18** HuE. 9:26-30

bilisummaa nuuti Yesuus Kiristoosiin qannu dooyanee, garbumma'atti nu deebisiisaaf barbaadatee, luuxanee seenane.

⁵ Dhugaan Oduu Gammadaa, akka yennaa mara isin woliin jiraattuuf, nuuti yennaa diqqolle'eef isaaniif hin ajajane.

⁶ Worri sooreyyii gugurdoo ifi fakkeessuu ammoo, eennummaan isaanii ta qaraa womaa natti hin fakkaatu; Waaqi fuula namaa ilaalee hin golu; isaan Oduu Gammadaa ta ani lallabu irratti womaa hin daballe.

⁷ Ammoo akka Waaqi, akkuma Pheexroos Oduu Gammadaa worra Yihudootaatiif akka lallabuuf adaraa itti kenne, anille Oduu Gammadaa worra Yihudoota hin te'iniif, akka lallabuuf adaraa natti kenneeru beekaneeran.

⁸ Waaqi akka Pheexroos ergamaa worra Yihudootaa te'ee tajaajilu godhe, akka anille ergamaa worra Yihudoota hin te'inii te'ee tajaajilu godheera.

⁹ Akkasuma sooreyyiin akka utuba'aa ilaalamanu Yaaqoob, Pheexroosii fi Yohaannis, badhaadha naaf kenname hubatatee, tokkummaa mudhisiisaaf Baarnaabaasii fi na woliin harka wol qabanneerra; Baarnaabaasii fi ani gara worra Yihudoota hin te'inii akka dhandhu, isaaniille gara worra gosa Waaqaa akka dhaqanu woliif galleerra.

¹⁰ Isaan marroo hiyyeeyyi'iitiif akka nuuti yaadannu callaa nutti dubbatane, kun waan ani dhugumaan godhiisaaf fedhuuyyu.

Anxokiya'atti Phawuloos Pheexroosiin Morme

¹¹ Pheexroos gara Anxokiya'aa yennaa dhufe waan dokonkoreeruuf, ani fuula duratti isa morme.

¹² Namooti gariin Yaaqoob biraa adoo hin dhufin dura, Pheexroos worra Yihudoota hin te'in keessaa worra dhugeeffate woliin nyaataa ture; yennaa isaan dhufane ammoo, golii worra haqanqabaa qabatee* sodaatee, worra Yihudoota hin te'in irraa ifi gargar baasee qarqarfate;

¹³ Worri Yihudoota keessaa dhugeeffatanelle, kijiba Pheexroosii hordofaneeran; Baarnaabaasinuu kijiba isaaniitiin duubatti harkifameera.

¹⁴ Akka isaan akka dhugaa Oduu Gammadaatitti hujaa hin jirre, ani yennaa dhagge, isaan mara duratti Pheexroosiin, «Ati Yihudii teetee, akka Yihudi'iititti adoo hin te'in, akka nama Yihudii hin te'iniititti eega jiraatte, attamiin worri Yihudoota hin te'in, akka Yihudootaatitti akka jiraattuuf uttitta ree?» jedhe.

Namuu Dhugeeffanna'aan Fayya

¹⁵ Nuuti dhalootaan Yihudoota malee, worra Yihudoota hin te'in worra cubbichaa moti.

¹⁶ Te'uu malee nami Yesuus Kiristoositti dhugeeffatiisaan malee, Seera eeggatiisaan akka hin balchoonne beenneerra. Nuutille Seera eeggatiisaan adoo hin te'in, Kiristoositti dhugeeffatiisaan akka balchoonnuuf Yesuus Kiristoositti dhugeeffanneerra. Eennulle Seera Muuse'ee eeggatiisaan hin balchoomu.

¹⁷ Kiristoositti dhugeeffatiisaan balchoomiisaaf adoo barbaannuu, nuutinu cubbaalleyyii teenee yoo mudhanne, akka cubbuu tolchinu ka godhiisatti jiru Kiristoos jechu'u ree? Ijjumaa, hin teetu!

¹⁸ Ani Seera diige deebisee yoo ka ijaaru te'e, aninuu nama Seera diigu te'uu kiyya mudhisiisatti jira jechu'u.

¹⁹ Ani Waaqaaf le'iisaaf, karaa Seeraatiin Seera duraa du'eera; ani Kiristoos woliin fannifameera.

* **2:12** Golii worra haqanqabaa qabatee: Golii, «Worri worra Yihudootaa hin te'in keessaa dhugeeffate haqanqabaa qabatu qaba» jettu. **2:16** Far. 143:2; Rom. 3:20,22

²⁰ Maarre haganaa achi Kiristoos ana keessa le'a malee, ani ifiif hin le'u. Le'ii amma fooniin le'ulle, ilma Waaqaa ka ana jaalatee, ifi dabarsee naaf kennetti dhugeeffatiisaan le'a.

²¹ Ani badhaadha Waaqaa gatii hin dhooggu; Seera eeggatiisaan adoo waan balchoomanu teete, Kiristoos toluma du'e jechu'uu motii ree!

3

Balchummaan Seeraan Moo Dhugeeffanna'aan

¹ Worra Galaatiya'aa gowwoole'e! Eentu muusessee isin dooche? Yesuus Kiristoos fannifamee, akka waan barreeffamee rarraafamee, ila teessan dura jiraayyuu.

² Ani waan tokko callaa beekuu barbaada: isin Seera eeggatiisaan moo, yookiin Oduu Gammadaa dhageettanee itti dhugeeffatiisaan Ayyaana Woyyicha fudhattane?

³ Attam akkas gowwitan? Ayyaana Waaqaatiin jalqaddanee, amma ammoo yaada fooniitiin muummessuu barbaaddanii ree?

⁴ Dhugumaan waan woy hin baaneef yoo te'e, toluma waan isin irra dhaqqabe kana mara fudhattanee ree?

⁵ Waaqi Ayyaana ifii isinii kennee, bilbaasa isin oddu'utti wonni hujuuf, waan Seera eeggattaneef moo, yookiin Oduu Gammadaa dhageettanee waan itti dhugeeffattaneef?

⁶ Abrahaam ilaala'a me; Barreeffami Woyyichi, «Abrahaam Waaqatti dhugeeffate; dhugeeffannaan isaalle balchumma'atti laakkowanteef» jedha.

⁷ Maarre worri dhugeeffatu maraa ilmaan Abrahaamii akka te'e hubadha'a!

⁸ Barreeffam Woyyichi akka Waaqi worra gosa isaa hin te'in dhugeeffanna'aan balchoonsu, duraan dursee dhaggee Abrahaamiin, «Gosi maraa si'iin hin eebbifama» jedhee, Oduu Gammadaa itti himeera.

⁹ Tanaaf worri dhugeeffatu maraa, Abrahaamii dhugeeffate woliin ka eebbifame.

¹⁰ Barreeffam Woyyichi, «Waan Kitaaba Seeraa keessatti barreeffame mara, nami hin eeganne maraa ka abaarama!» waan jedhuuf, worri Seera eeggatiisatti ciqilfatu abaarsa jala jira.

¹¹ Barreeffam Woyyichi, «Nami balchaan dhugeeffanna'aan le'a» waan jedhuuf, eennulle Waaqa duratti Seeraan balchoomiisaaf akka hin dandeenne ifa.

¹² Seerri dhugeeffannaa irratti hin hundeeffamu; te'uu malee Barreeffam Woyyichi, «Nami waan Seerri jedhu guutu, ittiin hin le'a» jedha.

¹³ Barreeffam Woyyichi, «Nami muka irratti rarraafamu maraa ka abaarama» waan jedhuuf, Kiristoos nu'uuf jedhee abaaramaa te'ee, abaarsa Seerri nutti fidu jalaa nu wode.

¹⁴ Eebbi Abrahaam dhaggate, karaa Kiristoos Yesuusiitiin, worra Yihudoota hin te'in maraaf akka kennamuuf, Ayyaana Waaqi addii kennelle, dhugeeffanna'aan akka fudhannuuf Kiristoos nu wodeera.

Seerri Waadaa Galame Hin Diigu

¹⁵ Obboleeyyan tiyya, le'ii guyyuma guyya'aa keessaa fakkeenna tokko fuudhee dubbadha: yoo nami lamaan waan tokko irratti wolii galee, wolii galtee san mallatteesse, eennulle wolii galtee san diigiisaaf, yookiin woy itti dabaliisaaf hin dande'u.

¹⁶ Maarre Waaqi Abrahaamii fi sanyii isaatiif addii kenneera; Barreeffam Woyyichi, akka nama heddu'uuf dubbatamuutitti, «Sanyoota» hin jedhu, akka nama tokkoof dubbatamuutitti, «Sanyii» jedha, innille Kiristoos.

¹⁷ Kana jechuun kiyyalle, Seerri woggaa dhibba afurii fi soddomaan duuba kenname, gondoоро qara Waaqaan gondoорante diigee, waadaa galame san balleessiisaaf hin dande'u jechuu kiyya.

¹⁸ Kennansi Waaqaa* Seeratti ciqilfatiisaan adoo te'ee, waadaa galametti ciqilfatiisaan hin te'uuyyu. Te'uu malee, karaa waadaa galameetiin, Waaqi kennansa ifii Abrahaamiif kenneera.

¹⁹ Yoona Seerri maaf kenname ree? Sanyiin Abrahaamiif waadaa galameen kenname haga dhufu, seera tariis maan akka te'e mudhisiisaaf, Seerri dabalamee kenname. Seerri ergantoota Waaqaatiin, karaa araarsaa† tokkochaatiin kenname.

²⁰ Te'uu malee, araarsaan tokko golii lama wolakka'atti malee takkaa calla'aaf hin barbaachisu; Waaqi ammoo tokkocha.

Seerri Maaf Akka Kenname

²¹ Seerri waadaa Waaqi galeen hin mormaa ree? Ijjumaa hin mormu! Seerri akka jiruu kennuuf adoo kennamee jiraate, sila dhugumaan, Seera eeggatiisaan balchummaan hin dhaggantiyyu.

²² Waadaan galame, ta Yesuus Kiristoositti dhugeeffatiisaan dhaggantu, worra dhugeeffatuuf akka kennantuuf, Barreeffam Woyyichi biyyi lafaa duudiin cubbu'uuf bitamiisaan hidhantee akka jirtu dubbata.

²³ Adoo dhugeeffannaan hin dhufin dura, haga dhugeeffannaan mudhatutti, Seeraan hidhannee, Seera jalatti eegamaa ture.

²⁴ Maarre nuuti dhugeeffanna'aan akka balchoonnuuf, haga Kiristoos dhufu, Seerri guddisoo keenaa te'eeraayyu.

²⁵ Amma ammoo, dhugeeffannaan waan dhutteef, haganaa achi guddisoo Seeraa jala hin jiraannu.

Ijoollee Waaqaa

²⁶ Kiristoos Yesuusitti dhugeeffatiisaan, isin martinuu ijoollee Waaqaa ti.

²⁷ Isin worri Kiristoos woliin tokko te'iisaaf cuuphantane maraa, Kiristoos akka woya'aa uffattaneertan.

²⁸ Karaa Kiristoos Yesuusiitiin, isin martinuu tokko waan teetaneef, worra Yihudi'iitii fi Giriikii, garbichaa fi ka garbicha hin te'in, dhiiraa fi dubartii oddu'utti garaagarummaan hin jirtu.

²⁹ Ka Kiristoosii eega teetane, isin sanyii Abrahaamii ti; waan Waaqi isiniif addii kennelle hin dhaaltan.

4

¹ Ammalle wonni ani jedhuu barbaadu kana: ilmi karra abbaa ifii dhaalu tokko, karra abbaa ifii mara irratti gootaa yoo te'elle, haga ijoollumma'aan jiru garbicha tokko hin caalu.

² Yennaan abbaan isaaf murteesse haga geettu, harka worra isa guddisuu-tii fi worra isa bulchuu jala tura.

³ Nuutille akkasuma, ayyaanaan adoo hin guddatin duratti, seera* biyya lafaatiif garba teenee turre.

⁴ Barri murtaye sun yennaa geye, Waaqi Ilma ifii nuuf erge. Inni dubartii irraa dhalatee, Seera jalatti bule.

* **3:18 Kennansi Waaqaa:** Dhaala dhaaliis, fayyinna dhaggatii. † **3:19 Araarsaa:** Wodhakkicha
3:29 Rom. 4:13 * **4:3 Seera:** Yookiin ayyaanota gugurdaa

⁵ Inni worra Seera jala jiru wodee, ilmaan Waaqaa nu godhiisaaf tana godhe.

⁶ Isin ilmaan isaa waan teetaneef, Waaqi Ayyaana Ilma ifii ka, «Abbaa, Abbaa» jedhee waamu gara keessa[†] keennaa ergeera.

⁷ Maarre yoonaa, ati ilma malee garbichaa moti; ilma eega teete, Waaqi akka dhaaltu si godheera.

Phawuloos Worra Galaatiyya'aatiif Haajame

⁸ Isin dur adoo Waaqa hin beekin, waan dadamaan waaqota dhuga'aa hin te'iniif garba teetaneertaniiyyu.

⁹ Amma ammoo Waaqa beettaneertan; dhugumaan Waaqi isin beekeera. Attam deebitanee gara hunnoota biyya lafaa dadhaboole'ee fi ka woy hin baane kanatti garagaltan ree? Ammalle deebitanee garba isaanii te'iisaaf barbaaddan?

¹⁰ Guyyaa, ji'a, bonaa-gannaa fi woggaa adda te'e ulfeessitan.

¹¹ Hujiin ani isinii huje mara tola baddeerti jedhee isinii sodaadha.

¹² Obboleeyyan tiyya, waan ani akka keessan te'eef, isinille akka kiyya akka teetanuuf isin kadhada. Isin womaa na hin yakkine.

¹³ Yennaa jalqabaa, akka ani sababa dhibee tiyyaatiin, Oduu Gammadaa isinii lallabe, isinuu hin beettan.

¹⁴ Dhibeen tiyya ilaallachaa isinitti teetulle, akka ergamaa Waaqaatii fi akka Kiristoos Yesuusiititti na fudhattane malee, isin na hin tuffanne, yookiin na hin jibbine.

¹⁵ Gammad keessan sun eessa dhage ree? Adoo dandeettane ila teessanille ifi keessaa baattanee, worra naaf kennitanu akka teetane anuu dhugaa hin baya.

¹⁶ Ani waan dhugaa isinitti himeef diina keessan te'ee ree?

¹⁷ Namooti kuun isiniif akka malee yaadatan, te'uu malee dansa'aafii moti; akka isin isaaniif jabaattanee yaadattanuuf, nu irraa isin kutiisa barbaadan.

¹⁸ Yaada dansa'aaf yoo te'e, namaaf yaadatuun waan dansa'a; tun ammoo yennaa maraaf malee, yennaa ani isin bira jiru calla'aaf hin te'in.

¹⁹ Ijoollee tiyya, haga bifi Kiristoosii isin keessatti mudhatutti, ani ammalle akka dubartii deettuu isiniif hin ciniinsifadha.

²⁰ Ani marroo teessaniif waan godhu waan wollaaleeruuf, adoo isin biratti dhaggamee akka dhibi'iin isinitti dubbadhee hin fedhaayyu.

Fakkeenaa Aggaariitii Fi Saara'aa

²¹ Isin worri Seera jalatti buliisaaf barbaadanu, waan Seerri jedhu hin dhageennee? Natti hima'a!

²² Abrahaam ilmaan lama qabaayyu; tokkocha dubartii garbittii irraa, kaan dubartii garbittii hin te'in irraa, akka uumate barreeffanteerti.

²³ Ilmi tokkochi dubartii garbittii irraa, akka fedha foonii calla'aan dhalate; kuun ammoo dubartii garbittii hin te'in irraa, addii kennanteen dhalata.

²⁴ Amma kun fakkeenaa; dubartooti lamaan sun fakkeenaa gondoorroo lamaanii ti. Takkattiin ta ijoolleen isi'ii garbummaa keessatti dhalatte Aggaari; isiin fakkeenaa gondoorroo Gaara Siina'aa irratti gondooraantee ti.

²⁵ Aggaariin Gaara Siina'aa ka biyya Arabaa keessa jiruun fakkeeffante sun, fakkeenaa Yersaaleemii amma kolbaa ifii waliin garbummaa keessa jirtuu ti.

²⁶ Yersaaleemiin ol-gubba'aa ammoo bilisoontu'u; isiin haadha teenna.

²⁷ Barreeffama Woyyicha keessatti,

«Ijoollee dubartii abbaa manaa qadduu caalaa,
ijoolleen dubartii qofi lakkifantee waan heddatteef,
ati maseentittiin deettee hin beenne gammadi;
ati ta ciniinsifattee hin beenne
iiyyii ilillisi!» jedhantee barreeffanteerti.

²⁸ Amma obboleeyyan tiyya, akkuma Yisihaqii, isinille ijoollee addii ken-
nante ti.

²⁹ Te'uu malee, yennaa san ka akka fedha foonii calla'aan dhalate, ka fedha
Ayyaana Waaqaatiin dhalate akkuma ari'e, ammalle akkasuma hin te'a.

³⁰ Barreeffami Woyyichi ammoo maan jedha? Wonni jedhu, «Ilmi gar-
bittii, ilma ta garbittii hin te'inii woliin dhaala waan hin qoodanneef,
garbittii ilma isi'ii woliin ari'i!» hin jedha.

³¹ Maarre obboleeyyan tiyya, nuuti ijoollee ta garbittii hin te'inii ti malee,
ijoollee garbittii'itii moti.

5

Bilisummaa Kiristoosiin Dhaggantu

¹ Bilisummaa'aan akka leenuuf Kiristoos bilisa nu baase. Tanaaf
jabaadha'aa dhaabbadha'a! Deebitaneelle waanjoo* garboomaatiin hin
hidhamina'a!

² Dhage'aa! Yoo haqanqabaa ifi qassiittane, akka Kiristoos ijjumaa isiniif
woy hin baane, ani Phawuloos isinitti hima.

³ Nami haqanqabaa qassiifatu mara, dirqama Seera duudii muummessi-
isaa akka qabu ani ammalle dhugaa hin bayaaf.

⁴ Isin worri Seera eeggatiisaan balchoomiisaaf barbaaddanu, Kiristoos
irraa ifi kuttaneertan; badhaadha waaqaa irralle'ee bayyattaneertan.

⁵ Nuuti ammoo karaa Ayyaana Waaqaatiin, balchummaa addii godhannu
dhugeeffanna'aan dharra'aa eeganna.

⁶ Kiristoos Yesuusiin yoo jiraanne, dhugeeffannaa jaalalaan hujjuttuu
gatii qaddi malee, haqanqabaa qabatiisa yookiin haqanqabaa qabatiisa
dhabiisaa moti.

⁷ Isin akkuma dansaa hujaa turtane; akka isin dhuga'aaf hin ajajanne
eentu gufuu isinitti te'e ree?

⁸ Hawadiin tun ta Waaqa gara dhuga'aa isin waamu biraa dhuttee moti.

⁹ Uukoon diqqoon bukoo duudii bukeessiti.

¹⁰ Akka isin yaada kana irraa gore hin qabaatin, ani Goota'aan ifi-addii
qaba. Eennulle teenaan nami isin jaanjursu mura'a hin fudhata.

¹¹ Ammoo obboleeyyan tiyya, haqanqabaa qabatiis barbaachisaa akka
te'e, adoo waan lallabiisatti jiraadhee, maaf na miidhan ree? Yoo akkasii,
fannoon Kiristoosii namaaf gufuu te'iis, silaa hin hafaayyu.

¹² Worri isin jaanjursu sun, haqanqabaa qabatiisa callaa adoo hin te'in,
adoo ifi yakkate ani hin jaaladha.

¹³ Obboleeyyan tiyya, isin bilisummaa'aaf waammantaneertan; jaalalaan
wol tajaajila'a malee, bilisummaa teessan tana halchaa foonii muummeffati-
isaaf karaa dagu'uu hin godhatina'a!

¹⁴ Seerri duudiin Jecha, «Akkuma ifi jaalattu nama jaaladhu!» jedhuun
wolitti qabama†.

¹⁵ Yoo ammoo ka wol cicciniittanee wol nyaattanu teete, akka wol hin
balleessine ifi eeggadha'a!

Hujii Ayyaanaatii Fi Hujii Foonii

* 5:1 Waanjoo: Qambaraa 5:9 1 Qor. 5:6 † 5:14 Wolitti qabama: Muummowa

¹⁶ Wonni ani jedhu tana: yoonaa Ayyaanaan sooreffamaa le'aa malee, halchaa foonii hin muummessina'a!

¹⁷ Halchaan foonii halchaa Ayyaanaatiin mormiti; halchaan Ayyaanaalle halchaa fooniitiin mormiti; halchaan lamaan tun waan wol mormituuf, waan jaalattanu godhiisaaf hin dandeettanu.

¹⁸ Yoo Ayyaanaan sooreffantane ammoo, Seera jala hin jirtanu.

¹⁹ Hujiin foonii ta beekkante. Isiille: sagaagaluu, battummaa, baalagummaa,

²⁰ waaqota dharaa waaqonsuu, moruu‡, diinummaa, moromaa, hinaaffaa, mufii, ifi jaalatuu, wol dhabuu, wol fojuu,

²¹ dhiibbaleessa te'uu, machii, sarbicha dhiitu'uu§ fi ta tana fakkaattu. Akkuma kanaan dura isinitti hime, ammalle itti deebi'ee isinitti hima: worri waan akkasii hujuu mootummaa Waaqaa hin dhaalu.

²² Midhaan Ayyaanaa ammoo jaalala, gammada, nageya, ossa, arjummaa, dansummaa, addatama,

²³ qajeelummaa'aa fi ifi qabatiisa. Seerri waan akkasii kana dhooggu hin jiru.

²⁴ Worri ka Kiristoosii te'e, halchaa hantu'uu fi fedha isaa woliin foon ifii fanniseera.

²⁵ Worra Ayyaanaan leenu yoo teene, Ayyaanaan sooreffannuu ti.

²⁶ Wol aarsaa, wol hinaaffaa, tola me ifi jajnuu ti!

6

Ba'aa Wolii Ba'adha'a

¹ Obboleeyyan tiyya, yoo nami tokko cubbu'uun qabame, isin worri ayyaantoleen qajeelummaa'aa isa qajeelcha'a! Ammoo isinille akka hin ataabanne ifi eeggadha'a.

² Ba'aa wolii ba'adha'a! Akkasiin Seera Kiristoosii muummessitan.

³ Nami woy hin baane tokko, nama woy bawu yoo ifi seye, ifi gowwoonsa.

⁴ Nami maraa hujii ifii qoree ilaaluu ti! Achiin duuba worra dhibii woliin wol bira qabee ifi ilaaliisaan adoo hin te'in, ifumaaf waan ittiin ifi jaju hin dhaggata.

⁵ Nami maraa ba'aa ifii ba'atuu qaba.

⁶ Nami Jecha Waaqaa baratu, barsiisaa ifii woliin waan dansaa mara goodamuu ti!

⁷ Ifi hin sobina'a! Waaqatti funnaan hin dhaabanu. Nami waanuma facaase haammata.

⁸ Nami akka fedha foon ifii facaasu, fedha foon ifii irraa du'a haammata; nami akka fedha Ayyaanaa facaasu, Ayyaana irraa jiruu bara baraa haammata.

⁹ Yoo addii kutatuu dhanne, yennaan haamma'aa yennaa geette, waan wolitti qabannuuf, hujii dansaa hujjisa me dadhannuu ti.

¹⁰ Maarre yennaa daguu dhagganne maratti, nama maraaf, keessattuu worra dhugeeffannaa keessa jiruuf, waan dansaa goonuu ti.

Gorsaa Fi Nageya Muummeffataa

¹¹ Qubee gugurdoo attamiitiin akka ani harka kiyyaan isiniif barreessiisatti jiru ilaala'a!

¹² Worri waan nafa namaa irratti alaan mudhatu dhaggisiisuu barbaadu, akka isin haqanqabaa qabattanu hunnaan isin godha. Marroo fannoo Kiristoosiitiif, akka miidhaan isaan hin geenne qofaaf tana godhan.

¹³ Isaan haqanqabaa qabatiisa keessaniin ifi jajiisaaf, haqanqabaa qabatiisa keessan barbaadan malee, worri haqanqabaa qabateeyyuu Seera hin eegatu.

¹⁴ Fannoo Goottaa Keenna Yesuus Kiristoosii, ta biyyi lafaa ana irraa ittiin fannifante, ka anille biyya lafaa jalaa ittiin fannifameen malee, waan biraatiin ifi jajuun ijjumaa naaf hin te'in.

¹⁵ Dada haareya te'iisa malee, haqanqabaa qabatiisii, yookiin haqanqabaa qabatiisa dhabiisi womaayyuu moti.

¹⁶ Worra seera kana hordofu maraa fi Israa'elii worra Waaqaa teeteef, nageyaa fi marartiin teetu.

¹⁷ Gadaannis ani nafa kiyya irratti qabu, garbicha Yesuusii te'uu kiyya waan mudhisuuf, haganaa achi namuu na hin rakkisin.

¹⁸ Obboleeyyan tiyya, badhaadhi Goottaa keenna Yesuus Kiristoosii isin woliin jiraatu. Ameen.

Ergaa Phawuloos Gara Worra Efesoonii Erge Seensa

Ergaan Phawuloos worra Efesooniitiif barreesse waan maraan dura ka itti xiyyeeffattu, «Karoorri Waaqaa dadi ol-gubbaa jirtuu fi lafa irra jirtu maraayyuu addee takka'atti baallii Kiristoosii tokkochaa jala akka teetu godhiisa» yaada jedhu (1:10). Itti dabaliisaan karaa Yesuus Kiristoosiitiin, sanyiin namaa mara tokko akka teetu, karoora Waaqaa guddaa kana hujii irra akka oolchanu, kolbaa Waaqaa ta yaadachiittu.

Ergaan gara worra Efesoonii kutaa jalqabaa keessatti, barreessaan mar-roo tokkummaa mata duree jalqabe badhisiisaan Waaqi Abbaan kolbaa ifii attam akka filate, Ilma isaa Yesuus Kiristoosiin cubbuu isaaniitiif araara dhaggatanee, attam akka bilisa te'anee fi, dubbiin Waaqaa ta addii guddo'oo, karaa Ayyaana Woyyichaatiin attamiin akka mirkanootte dubbatti; kutaa lammeesso'oo keessatti, barreessaan worri ergaa tana dubbifatu jireenna woliin qabanu keessatti, Kiristoosiin te'anee tokkummaan isaan qabanu dhugaamettii akka teetu, attam le'iisa akka isaan barbaachisu, isaan yaadachiisa.

Namooti tokkummaa karaa Kiristoosiitiin qabanuun attam godhane tokkummaa'aan le'iisa akka dande'anuu, haala dubbii adda addaatiin mudhi-fameera; wolde'i kiristaanaa akka nafaa yennaa te'u, Kiristoos akka mataa nafaa ti; wolde'i kiristaanaa akka ijaarsa dhaka'aan ijaaramu yennaa te'u, Kiristoos akka dhakaa roga qaccee ijaarsaa ti; wolde'i kiristaanaa akka ni-iti'ii yennaa te'u, Kiristoos akka dhirsaa ti; barreessaan ergaa tanaa, marroo badhaadha Waaqaa ka karaa Kiristoosiitiin mudhatee, guddisee maadeffataa yennaa dubbatu, gad fageessee issiisaan dhikeessa; waan maraayyuu karaa jaalala Kiristoosiitiin, karaa woreegamaatiin, karaa araaraatiin, karaa badhaadhaa fi qulqullinnaatiin ilaala.

Haadhoo Dubbi'ii

Itti seensa 1:1-2

Kiristoosii fi wolde'a kiristaanaa 1:3–3:21

Kiristoosiin jiruu haareya 4:1–6:20

Yaada buufataa 6:21-24

¹ Ana Phawuloosii fedha Waaqaatiin ergamaa Kiristoos Yesuusii te'e irraa: Worra Kiristoos Yesuusiif addatantane, kolbaa Waaqaa ta Efesoon keessa jirtanuuf,

² Waaqi abbaan keennaa fi Gootaan keenna Yesuus Kiristoos badhaadhaa fi nageya isiniif kennu.

Eebba Ayyaantumma'aa Ka Kiristoosiin Dhaggamu

³ Waaqi Abbaan Gootaa keenna Yesuus Kiristoosii, ka Kiristoosiin eebba Ayyaana ol-gubba'aa maraan nu eebbise, galatoomuu ti!

⁴ Inni dadama biyya lafaatiin duraayyuu, isa duratti woyyootaa fi worra komii hin qanne akka teenu, Kiristoosiin nu filateera.

Jaalala ifitiin,

⁵ karaa Yesuus Kiristoosiitiin ijoollee ifii akka nu godhatuuf Waaqi akka fedhaa fi halchaa ifii dansa'aatitti duruu murteesseera.

⁶ Badhaadhi isaa ulfaataan, ka inni Ilma ifii jaalatama'aan tola nuuf kenne, akka galateeffamuuf tana godhe.

⁷ Akkuma durummaa badhaadha Waaqaatitti, dhiiga Kiristoosiitiin wodannee, araara cubbuu teennaa dhaggane.

⁸ Badhaadha ifille qaroomaa fi beekkumsa maraan nuuf dhangalaase.

⁹ Waaqi akkuma duraan karaa Kiristoosiitiin karoofate, dhossaa fedha ifii akka halchaa ifii dansa'aatitti akka nuuti beennu godhe.

¹⁰ Karoorri Waaqi yennaa barri geye muummessu, dadi ol-gubbaa jirtuu fi lafa irra jirtu mara, wolitti qabantee baallii Kiristoosii jala akka teetu godhiisa.

¹¹ Waaqi waan mara akka fedhaa fi gorsa ifiititti hujatu, jalqaba irrattuu akkuma murteessetti, Kiristoosiin kolbaa isaa akka teenuuf nu filate.

¹² Wonni inni tana godheef, nuuti worri Kiristoositti addii godhatiisaan worra duraa teene, akka ulfinna Waaqaatiif galata galchinu*.

¹³ Isinille ergaa dhuga'aa, Oduu Gammadaa ta fayyinna keessanii yennaa dhageettane Kiristoositti dhugeeffattanee, Chaappaa Ayyaana Woyyicha waadaa galame te'een mallatteeffantaneertan.

¹⁴ Ayyaanni waan Waaqi kolbaa ifiitiif waadaa gale fudhatiisa keenna hin mirkaneessa. Ulfina Waaqaatiif galata galchinuu ti.

Daadimata Phawuloosii

¹⁵ Waan kanaaf, ani haga Goottaa Yesuusitti dhugeeffatiisa keessanii fi kolbaa Waaqaa mara jaalatiisa keessan dhage'ee jalqabee,

¹⁶ daadimata kiyya keessatti isin qaabataa, marroo teessaniif Waaqa gala-teeffatiisa hin lakkinne.

¹⁷ Abbaa ulfinnaa, Waaqa Goottaa keenna Yesuus Kiristoosii, akka isin isa beettanu, Ayyaana qaroo isin godhuu fi ka Waaqa isinitti mudhisu, akka isinii kennuuf daadimadha.

¹⁸ Addiin inni itti isin waame maan akka teete, eebbi baasaa ka inni kolbaa ifiitiif addii kennu durummaa attamii akka te'e, qalbiin teessan banantee ifa isaa akka dhaggitanu,

¹⁹ nu worra dhugeeffatulle'eef, hunna isaa ta waan duudi'iin ol teete, attam guddoo akka teete, akka beettanu daadimadha. Hunni tun jabeenna guddaa tama akka,

²⁰ yennaa inni Kiristoos du'a keessaa kaasee, ol-gubba'atti midda ifiititti isa teessise ittiin hujee ti.

²¹ Waaqi Abbaan bulchitootaa, worra baallii qabu, hunnootaa fi goottota maraa ol, akkasuma biyya lafaa tana qofatti adoo hin te'in, ta dhuttulle'etti, maqaa ulfinnaa ka maqaa maraa olii kenniisaan Kiristoos midda ifiititti teessise.

²² Waaqi waan mara baallii Kiristoosii jala galchee, waan mara irratti mataa godhee wolde'a kiristaanaatiif isa kenne.

²³ Wolde'i kiristaanaa nafaa fi guutummaa Kiristoosii waan mara karaa maraan guutuu ti.

2

Du'a Keessaa Gara Jiru'uu Dabaruu

¹ Isin sababa yakka'aa fi cubbuu teessaniitiif duutaneertaniyyu.

² Yennaa san isin karaa hamaa biyya lafaa gula deentane; ayyaana amma kolbaa Waaqaaf hin ajajanne toowatu, bulchaa hunnoota ayyaanota qilleensa keessaatiif ajajantane.

^{1:7} Qol. 1:14 * ^{1:12} Akka ulfinna Waaqaatiif galata galchinu: Yookiin galata ulfinna Waaqaatiif akka leenu ^{1:23} Qol. 1:18

³ Dhugumaan marti keennaayyuu akkuma isaanii halchaa foon keennaatii fi qalbii teennaa waan guutu mara hujataa, akkuma halchaa teennaatitti jiraanne. Nuuti akka dadama keennaatitti, akkuma namoota kaanii, mufii Waaqaa jala jirraayyu.

⁴ Waaqi mararti'iin dureessaa ammoo, jaalala guddaa nu jaalate irraa ka ka'e,

⁵ yakkaa teennaan yennaa nuuti duuneerruuyyuu, inni Kiristoosiin gara jiru'uu nu fide. Isin badhaadha Waaqaatiin fayyitaneertan.

⁶ Waaqi karaa Kiristoos Yesuusiitiin isa woliin du'a keessaa nu kaasee, isuma woliin addee ol-gubba'aa keessa nu teessise.

⁷ Durummaa badhaadha ifii ta hagana hin jedhanne, ta arjummaa ifitiin karaa Kiristoos Yesuusiitiin nutti mudhise, baroota dhufulle mudhisiisaaf inni tana godhe.

⁸ Isin badhaadha Waaqaatiin karaa dhugeeffanna'aatiin fayyitane malee, hujii teessaniinii moti; isiin tun kennaa Waaqaa ti.

⁹ Akka nami tokkole ittiin ifi hin jajne, hujii'ini moti.

¹⁰ Nuuti hujii harka isaa waan teeneef, hujii inni duraan dursee qopheesse akka hunyuuf, Waaqi karaa Kiristoos Yesuusiitiin hujii dansa'aaf nu dade.

Karaa Kiristoosiitiin Tokko Te'uu

¹¹ Isin worri dhalootaan worra Yihudootaa hin te'in, Yihudoota harka namaatiin haqanqabaa qabattee, «Haqanqabaa qabanneerra» ifiin jettuun, «Worra haqanqabaa hin qabatin» jedhantane waamamaa akka turtane qaabadha'a.

¹² Isin yennaa san Kiristoos irraa gargar baatanee, kolbaa Israa'eliitiif alagaa teetane, gondoosoo addii Waaqi kenneetiif orma teetane, biyya lafaa tana keessatti addii fi Waaqa malee akka leetane qaabadha'a.

¹³ Amma ammoo, isin worri dur fagaattane turtane, Kiristoos Yesuus woliin tokkummaa qabaachu'uun, dhiiga Kiristoosiitiin dhikaattaneertan.

¹⁴ Kiristoos nageya keenna; dalleya diinummaa'aa ka isaan gargar nu baaseeru dhiiga ifitiin diigee, Yihudootaa fi worra Yihudoota hin te'in kolbaa tokko godheera.

¹⁵ Karaa kanaan nageya fidiisaaf, gosa lamaanuu irraa ka te'e nama haareya isa woliin wolii galu tokko dadiisaaf, Seera Yihudootaa ajajootaa fi aadaa seerota woliin diige.

¹⁶ Fannoo irratti du'iisaan Kiristoos diinummaa isaanii balleesse; inni fannoo'oon worra lamaanuu nafa tokko godhee Waaqaan wolitti araarse.

¹⁷ Maarre Kiristoos dhufee worra Waaqa irraa fagaate, isin worra Yihudoota hin te'iniif, worra gara Waaqaa dhikaate, isin worra Yihudootaatiifille, Oduu Gammadaa ta nageyaa maraafuu lallabe.

¹⁸ Yihudootaa fi worri Yihudoota hin te'in, nuuti martinuu karaa Kiristoosiitiin Ayyaana tokkoon Abbaa bira geyiisa hin dandeenna.

¹⁹ Tanaaf, isin worri Yihudoota hin te'in haganaa achi orma yookiin alaga'aa moti; isin amma miseensota maatii Waaqaatii fi kolbaa Waaqaatiin woliin nama biyya tokkoo ti.

²⁰ Isinille hundee ergantootii fi raagoti hundeessan irratti ijaarantaneertan; dhakaan roga qaccee ijaarsaalle Kiristoos Yesuus.

²¹ Kiristoos Yesuusiin ijaarsi duudiin wolitti qabamee, Galma Waaqaa wooyicha te'iisaaf Gootta'aan guddata.

²² Isinille isumaan worra dhibii woliin addee Waaqi Ayyaana ifitiin jiraatu te'iisaan ijaaramiisatti jirtan.

3

Phawuloos Worra Yihudoota Hin Te'iniif Lallabe

¹ Sababa kanaaf, ani Phawuloos, isin worra Yihudoota hin te'iniif jedhee hidhamaa Kiristoos Yesuusii te'eera.

² Bu'aa teessaniif hujiisaaf akka Waaqi badhaadha ifitiin hujii tana naaf kenneeru isin dhugumaan dhageettaneertan.

³ Akkuma ani armaan gubba'atti gabaassee isinii barreesse, Waaqi yaada ifii ka dhossa'aa mudhisee akka ani beeku godheera.

⁴ Isin waan ani barreesseeru yoo dubbittane, hubantii tiyya ta marroo dhossaa Kiristoosii beekuu dandeettan.

⁵ Dhossaan tun tanaan dura ilmaan namaatitti hin mudhifanne, Waaqi ammoo Ayyaanaan ergantoota woyyootaa fi raagota woyyoota ifiititti amma mudhiseera.

⁶ Dhossaan tun, worri Yihudoota hin te'in karaa Wongeelaatiin Yihudoota waliin worra dhaaluu fi miseensa nafa tokkoo te'anee, waadaa Waaqi karaa Kiristoos Yesuusiitiin gale keessalle'etti qoodamiisa.

⁷ Ani karaa kennansa badhaadha Waaqaa, ka hujii hunna isaatiin naaf kennameetiin tajaajilaa Wongeela kanaa te'eera.

⁸ Ani kolbaa Waaqaa mara caalaa diqqaadha; te'uu malee, Oduu Gammadaa ta marroo durummaa Kiristoosii muummee hin qannee worra Yihudoota hin te'iniif akka lallabuuf Waaqi badhaadha kana naaf kenne.

⁹ Akkasuma karoorri dhossaa baroota dabarane keessatti Waaqa waan mara dadeen dhoffantee turtee, maan akka te'e, akka mudhisuuf badhaadhi naa kenname.

¹⁰ Wonni tun teeteef, bara ammaa, karaa wolde'a kiristaanaatiin, bulchitootii fi hunnooti ol-gubba'aa qarooma Waaqaa bifa adda addaa maraan akka beekanu.

¹¹ Waaqi akkuma karoora isaa ka bara baraatitti, karaa Goottaa keenaa Kiristoos Yesuusiitiin tana muummesse.

¹² Nuuti Kiristoosiin waan jirruu fi isatti waan dhugeeffanneerruuf, sodaa malee gara Waaqaa dhikaatiisaaf ifi addii qanna.

¹³ Sababa ani isiniif rakkatiisatti jiruuf, akka addii hin kutanne isin kadhadha; wonni martinuu ulfinna keessaniif teete.

Jaalala Kiristoosii

¹⁴ Waan kanaaf ani Abbaa duratti jilbiiffadha.

¹⁵ Maatiin ol-gubbaa jirtuu fi lafa irra jirtu marti maqaa dhuga'aa Waaqa biraa fudhatti.

¹⁶ Durummaa ulfinna isaatiin keessi keessan karaa Ayyaana isaatiin akka jajjabaatu hunna akka isiniif kennu daadimadha.

¹⁷ Karaa dhugeeffanna'aatiin Kiristoos gadhaa keessan keessa akka qubatu ani hin daadimadha. Ani akka isin jaalalaan hiddaa fi hundee qabaattanuu daadimadha.

¹⁸ Jaalalli Kiristoosii hagam akka badhatuu fi dheeratu, hagam akka ol fagaatuu fi gad fagaatu, akka isin kolbaa Waaqaa mara waliin hunna hubanti'ii qabaattanuu,

¹⁹ akkasuma jaalala Kiristoosii ka beekkumsa bira dabare te'e san beetanee, guutummaa Waaqaa maraan akka guutantanu daadimadha.

²⁰ Hunna amma nu keessa hujiisatti jirtuun waan nuuti gaafatiisa, yookiin yaadatiisa dandeennu mara irra akka malee caalchisee hujiisa ka dande'uuf,

²¹ Karaa wolde'a kiristaanaatii fi karaa Kiristoos Yesuusiitiin bara baraan ulfinni Waaqaaf te'u! Ameen.

4

Tokkummaa Nafa Kiristoosiitiin Jiru

¹ Ani sababa Goottaa tajaajiluuf hidhamaa ka te'e, waamicha itti waaman-tane saniif akka maletti akka leetanu isin gorsa.

² Yennaa mara worra ifi gadi qabu, worra qajeela'aa fi ossaameyyii te'a'a. Jaalalalle'een wol dande'a'a.

³ Nageya wolitti isin qabu ka Ayyaanni Woyyichi kennu eegatiisaaf waan dandeettanu mara godha'a.

⁴ Akkuma addiin Waaqi itti isin waame takkaa teete, nafa tokkoo fi Ayyaana tokkotti jira.

⁵ Akkasuma Gootaan tokko, dhugeeffannaan tokko, cuupham tokko jira;

⁶ ammalle ka mara caalu, ka mara keessalle huju, ka mara keessa jiraatu, Abbaa kolbaa maraa ka te'e, Waaqa tokkochatti jira.

⁷ Akkuma safara kennansa Kiristoosiititti badhaadhi tokko tokkoo keen-naaf kennameera.

⁸ Barreeffam Woyyichi,
«Inni gara gubba'aa yennaa ol baye,
boojuu hedduu booji'ee,
namootaaf kennansa kenne» jedha.

⁹ Amma, «Ol baye» jechuun maan jechuu isaa ti? Duraan dursee biyya lafaa tana keessa addee gad aantu'utti gad dhufeera jechu'u.

¹⁰ Maarre ka gad dhufe, waan duudii dhaggama ifitiin guutiisaaf kama ol-gubbaa maraan ol baye.

¹¹ Inni worri gariin ergantoota, gariin raagota, gariin lallaboota Wongeelaa, gariin toowattoota, gariin barsiisota akka te'anuuf kennansa isaaniif kenne.

¹² Inni nafa Kiristoosii ka te'e wolde'i kiristaanaa akka ijaaramuuf, kolbaa Waaqaa hujii tajaajila kiristaanaatiif qopheessiisaaf tana godhe.

¹³ Maarre marti keenna dhugeeffannaa teennaa fi Ilma Waaqaa beekiisaan tokko hin teena; ayyaanaan bilchaannee, nama geyaa teenee, haga Kiris-toosii geenna.

¹⁴ Nuuti danbali'iin gara duraatii fi duubaa raafamaa, qilleensa barsiisa kolbaa dokonkorsitu'uu, ka maltumma'aan worra dhibii sobee dokonkorsuu fi asii achi afuufuun, hagaraa achi ijoollee hin teenu.

¹⁵ Kanaa mannaa, jaalalaan dhugaa dubbataa, gara Kiristoosii mataa te'ee, karaa maraan guddanna.

¹⁶ Kiristoosiin nafi duudiin morgeyaan hidhamee wol qabatee, mitikaan nafaa marti wol qaqqabateera. Maarre yennaa mitikaan martinuu akka hujiisaaf maletti huju, nafi duudiin jaalalaan guddatee ifi ijaara.

Jiruu Haareya Kiristoosiin Dhaggantu

¹⁷ Yoona akka worra yaadi isaanii bu'aa hin qannee, akka worra Yihudoota hin te'inii akka hin leene, maqaa Gootta'aatiin jabeessee isin gorsa.

¹⁸ Qalbiin isaanii dukkanootteerti; sababa beekuu hin barbaannee fi gadhaa jabeenna isaaniitiif jiruu Waaqi kennu irraa gargar bayaneeran.

¹⁹ Isaan fokkoo dhabanee, amala bada'aa fi battummaa mara hujiisaaf joljolanee ifi dabarsanee kennaneeran.

²⁰ Marroo Kiristoosii wonni isin barattane akkasii moti.

²¹ Dhugumaan marroo isaa dhageettaneertan; dhugaa Yesuus keessa jir-tulle barattaneertan.

²² Le'ii dullattii dur le'aa turtane, ta halchaa sobaatiin badde san ifi irraa gata'a.

²³ Ayyaana qalbii teessaniitiin haareffama'a.

²⁴ Jiruu haareya, balchumma'aa fi woyyummaa dhuga'aatiin ifi mudhittu, ta fakkeenna Waaqaatiin dadante san uffadha'a.

²⁵ Maarre, yona soba lakkisa'a! Nafa Kiristoosiitiin marti keenna mis-eensa wolii waan teeneef, dhugaa wolitti dubbannuu ti.

²⁶ Isin yoo mufattane, mufiin teessan gara cubbuu isin hin geessin; mufii teessan irratti aduun isinitti hin seenin.

²⁷ Seexanaafille karaa hin kennina'a.

²⁸ Ka hatu hanna lakkisee, worra rakkata'aafille waan kennu akka qabaatu, harka ifiitiin hujii dansaa elowee addatamaan hujuu ti.

²⁹ Dubbii bu'aa qadduu fi akka barbaachittetti ta ijaartu, worra dhage'uufille badhaadha ta kennitu malee, dubbiin hantuun afaan keessanii hin bayin.

³⁰ Guyyaa itti wodantanuuf chaappaa* ittiin mallatteeffantane, Ayyaana Woyyicha Waaqaa hin gaddisiisina'a.

³¹ Hammeenni hadhawaan, mufiin, aariin, caanci moroma'aa, arrabii fi hammeenni martinuu isin irraa fagaattu.

³² Akkuma Waaqi karaa Kiristoosiitiin isiniif araarama, waliif araarama'a, waliif arjooma'a, gadhaalle waliif laafa'a.

5

Ifa Keessa Jiraachuu

¹ Isin jaalatantoota ijoollee Waaqaa eega teetanee, fakkeenna isaa gula deema'a.

² Akkuma Kiristoos nu jaalatee, akka kennansa uddowa'aa fi woreega Waaqa gammachiisuu, jiruu ifii akkuma nu'uuf kenne, isinille jaalalaan jiraadha'a.

³ Isin kolbaa Waaqaa eega teetanee, sagaagaluun yookiin battummaan martinuu yookiin joljolummaan wodhakkaa teessanitti te'uu lakkisiitii, odunuun dhage'amu hin qaddu.

⁴ Waaqa galateeffadha'a malee, dubbii gurratti hin tole, dubbii shufuroo, dubbii fokkisiittu hin dubbatina'a.

⁵ Sagaagaltichi, yookiin battichi, yookiin joljoltichi jechuun ka waaqa dharaa waqonfatu mootummaa Kiristoosiitii fi Waaqaa keessatti qooda akka hin fudhanne beeka'a.

⁶ Eennulle dubbii dharaatiin isin hin sobin; sababa waan kanaatiif mufiin Waaqaa worra isaaf hin ajajanne irratti hin dhutti.

⁷ Tanaaf kolbaa akkasii waliin tokkummaa hin qabaatina'a.

⁸ Isin dur dukkana keessa turtane, kolbaa Gootta'aa eega teetane ammoo, ifa keessa jirtan. Maarre isin akka kolbaa ifaa jiraadha'a.

⁹ Sababille wonni dansaan marti, balchumma'aa fi dhugaan ifa keessaa madditi.

¹⁰ Waan Goottaa gammachiisu qorqora'aatii bira geya'a.

¹¹ Hujii dukkanaa, ta bu'aa hin qanne san, ifatti baasa'a malee, itti hin hirmaatina'a.

¹² Waan isaan dhossa'atti hujanee dubbatiisinuu hin fokkifachiisa.

¹³ Wonni marti yenna gara ifaa baate, bifi isi'ii dhugichi ifa te'ee hin mudhata;

¹⁴ Sababille ifi waan mara mudhisa*. Tanaaf,
«Ati ka rafiisatti jirtu, dammaqi!

* **4:30** Chaappaa: Beessisa **4:32** Qol. 3:13 * **5:14** Ifi waan mara mudhisa: Yookiin wonni ifa te'ee mudhatu duudiin ifa

Du'a keessaa ka'i!
Kiristoos si'iif hin issa» jedhame.

¹⁵ Maarre isin attam akka leetanu ifi hubadha'aa ilaalladha'a. Akka qaroole'ee malee, akka gowwoole'ee hin le'ina'a.

¹⁶ Barri kun hamaa waan te'eef, yennaa dagu'uu maratti fayyadama'a.

¹⁷ Fedhiin Gootta'aa maan akka teete hubadha'a malee, gowwoolee hin te'ina'a.

¹⁸ Ayyaana Woyyichaan guutama'a malee, daadhii woyni'ii ta isin balleessituun, hin machowina'a.

¹⁹ Faaru'uu fi faaruu leellisaatiin, faaruu Ayyaanaatile'een woliin dudubbadha'a; faaru'uu fi faaruu leellisaatiin gadhaa keessan keessatti Goottaa galateeffadha'a.

²⁰ Maqaa Goottaa keenaa Yesuus Kiristoosiitiin, waan maraaf, yennaa mara, Waaqa Abba'aaf galata galcha'a.

Abbaa Manaatii Fi Haadha Manaa

²¹ Ulfina Kiristoosiitiif jedha'aatii woliif ajajama'a.

²² Haadhotiin manaa, akkuma Goottaa Yesuusiif ajajamanu abbootii manaatii ajajamanuu ti.

²³ Akkuma Kiristoos wolde'a kiristaanaatiif mataa te'e, abbaan manaa haadha manaatii mata'a; Kiristoos nafa isaa ka teete, wolde'a kiristaanaatiifille fayyisa'a.

²⁴ Wolde'i kiristaanaa Kiristoosiif akkuma ajajamu haadhotiin manaa abbootii manaa isaaniitiif waan maraan ajajamanuu ti.

²⁵ Abbootii manaa! Akkuma Kiristoos wolde'a kiristaanaa jaalatee ifi dabarsee kenne, isinille haadhotii manaa teessan jaaladha'a.

²⁶ Inni wolde'a kiristaanaa karaa Jecha ifitiin bisaaniin dhiqee qulqulleessee, Waaqaaf woyyoonsiisaaf tana godhe.

²⁷ Maarre akkasiin xurii yookiin shuntuurata fuulaa yookiin wonni hantuun akkasii irratti adoo hin dhaggamin, Woyyicha, ka komii hin qanne, shaggaa godhee, wolde'a kiristaanaa gara ifii dhikeessa.

²⁸ Akkasuma, abbootiin manaa akkuma nafa ifii jaalattu haadhotii manaa ifille jaalatu ti. Ka haadha manaa ifii jaalatu ifi jaalata.

²⁹ Nami nafa ifii jibbu hin jiru; ammoo akkuma Kiristoos wolde'a kiristaanaatiif godhu, hin nyaachisa, hin qananiisa.

³⁰ Sababille nuuti mitikaa nafa Kiristoosii ti.

³¹ Barreeffam Woyyichi, «Sababa kanaaf nami haadhaa fi abbaa lakkisee, haadha manaa ifiititti maxxana; lamaanuu tokko hin te'an» jedha.

³² Kun dhossaa guddo'o; ani marroo Kiristoosiitii fi marroo wolde'a kiristaanaa dubbatiisatti jira.

³³ Te'uu malee, isin martinuu akkuma ifi jaalattanu haadha manaa teessan jaaladha'a; haati manaalle abbaa manaa ifii ulfeessituu ti.

6

Ijoolle'ee Fi Worra Isaanii

¹ Ijoolle! Waan barbaachisaa te'eef, abbootii'ii fi haadhotii teessaniif akka Gootaan fedhutti ajajama'a.

² «Abba'aa fi haadha teeti ulfeessi» ajaja jedhu woliin addiin qara kennante:

³ «Dansaan akka siif teetuu fi lafa irra bara dheeraa akka leetu» jedha.

⁴ Abbootii! Ijoollee teessan adabaa fi gorsa Gootta'aatiin guddisa'a malee, akka aartu hin godhina'a.

Goottotaa Fi Garboota

⁵ Garboota! Isin akkuma Kiristoosiif ajajantanu, gadhaa tokkochaan, soda'aa fi rommiisaan goottota teessan ta biyya lafaatiif ajajama'a.

⁶ Isaan gammachiisuu qofaaf, ila isaanii dura calla'atti adoo hin te'in, akka garbicha Kiristoosiititti, gadhaa tokkoon fedhii Waaqaa muummessa'a.

⁷ Akkasuma nama adoo hin te'in, akka Goottaa tajaajiltanutti, gammadaan tajaajila'a.

⁸ Garbichalle te'ee yookiin ka garbicha hin te'in, hujii dansaa hujeeff, Goottaa biraa gatii akka fudhatu hin beettan.

⁹ Isinille goottole'e! Goottaan keessanii fi garboota teessanii ka nama wol hin caalchinne, akka ol-gubbaa jiru waan beettanuuf, sossodaachisiisa lakkisa'aatii, garboota teessaniif dansaa godha'a.

Meya Woraanaa Ka Waaqaa

¹⁰ Yoona, Gootta'aa fi hunna isaa jaddu'uun jabaadha'a.

¹¹ Maltummaa Seexanaatiin mormuu akka dandeettanu, meya woraanaa ka Waaqaa duudii hidhadha'a.

¹² Wodhaantoon teenna ilmaan namaatiin mormiisa adoo hin te'in, bulchitoota, worra baallii qabanuu fi hunna biyya lafaa ta dukkanaa tana ka te'ane, irree ayyaana hamaalessa ol-gubba'aatiin mormiisa.

¹³ Maarre guyyaa hamaa san, hunna diinaa adhatiisa akka dandeettanuuf, waan mara muummessitanee*, jabaattanee dhaabbatiisa akka dandeettanu, meya Waaqaa ka woraanaa mara hidhadha'a.

¹⁴ Tanaaf, dhugaa akka hiitu'uu hidha keessanitti hidhadha'aatii, balchummaa akka qomoo sibiilaa keyadha'aa dhaabbadha'a.

¹⁵ Wongeela nageyaalle akka Kophe'ee miilatti keyadha'aatii qophowa'aa dhaabbadha'a.

¹⁶ Kana mara woliin, daayota hamaalessaa ka bobbe'u mara, dhugeeffannaa ittiin dhaanfuu dandeettanu, akka wonte'ee qabadha'a.

¹⁷ Fayyinna akka gullee sibiilaa keyadha'a; Jecha Waaqaa ka Ayyaanni Woyyichi isinii kennulle akka shallaaga'aa qabadha'a.

¹⁸ Yennaa daadimattanuu fi gaafattanuu mara Ayyaana Woyyichaan soor-effamaa daadimadha'a. Akkasiin kolbaa Waaqaa maraaf dammaqa'aatii jabaadha'aa daadimadha'a.

¹⁹ Dhossaa Wongeela soda malee beessisiisaaf, yennaa ani dubbatiisaaf qophowe, Waaqi akka jecha naaf kennu analle'eef daadimadha'a.

²⁰ Ani amma wodaroo sibiilaatiin hidhamee jiraadhulle, ergamaa Wongeela kanaa ti. Tanaaf akka dubbatu'uuf maletti, marroo Wongeela soda malee akka ani dubbadhu daadimadha'a.

Muummee Irratti Nageya Dhaame

²¹ Obboleessi keenna Xikiqoosiin jaalatama'aa fi tajaajila hujii Gootta'aatiin addatamaan, waan ani hujiisatti jiruu fi attam akka ani jiru akka beettanu, waan mara isinitti hin hima.

²² Nuuti martinuu attam akka jirru akka beettanu fi akka isin jaj-jabeessuuf, isa gara keessan erga.

²³ Waaqa Abbbaa biraa, Goottaa Yesuus Kiristoos biralle'ee, nageennii fi jaalalli dhugeeffannaa woliin kiristaanota† maraaf te'uu ti.

²⁴ Badhaadhi Waaqaa worra Goottaa keenna Yesuus Kiristoos jaalala hin banneen jaalatu maraaf te'uu ti.

* **6:13** Waan mara muummessitanee: Haga muumme'ee loltanee

6:21 HuE. 20:4; 2 Xim. 4:12

† **6:23** Kiristaanota: Obboleeyyan

Ergaa Phawuloos Gara Worra Filiphisiyyuusii Erge Seensa

Phawuloos ergaa tana wolde'a kiristaana Filiphisiyyuusii, ka bulchiinsa worra Rooma'aa, lafa Meqedooniyaa jedhantu keessatti dhaggamuuf barreesse; wolde'i kiristaanaa kun ka Phawuloos lafa Awuropha'aatitti qara dhaabe; ergaan tun yennaa Phawuloos mana hidha'aa jiru barreeffante; tajaajiltoota kiristaanaa dhibii irraa yennaa mormiin isa dhaqqaddee fi wolde'a kiristaanaa ka Filiphisiyyuusii keessatti barumsa dharaa ka'een yennaa gadhaan isaa gaddaan gubate barreesse. Te'uu malee dhugeeffannaan Phawuloos Yesuus Kiristoositti qabu jadduu waan teeteef, ergaa tana keessatti irra caalaa ka mudhatu gammadaa fi ifi-addii guutu'u.

Sababi Phawuloos ergaa tana barreesseef: ka qaraa, yennaa rakkinna isaa, dhugeeffattooti Filiphisiyyuusii isa qarqaariisaaf kennansa waan erganeeranuuf isaan galateeffatiisa; rakkinni adda addaa isaa fi isaan dhaqqabulle, jabeennaa fi ifi-addii akka qabaatanu, tanuma keessa isaan jajjabeessa. Ifi jajiisaa fi waan qabanuun kooriisa lakkisane, gadhi-laafummaa Yesuus Kiristoosiitiin akka guutamanu jabeessee yaadachiisa; Yesuus Kiristoos waliin Ayyaanaan tokko te'iisaan jiruu dhaggatane kennansa badhaadha Waaqaa irraa ka maddee fi ka dhugeeffanna'aan fudhatane malee, seera muummessiisaan ka dhaggamee moti jedhiisaan isaan qaabachiisa; worra Yesuus Kiristoos waliin tokkumma'aan jiraatu maraaf nageyaa fi gammada Waaqi kennu, isaaniif barreessa.

Ergaan tun gammada, ifi-addii, tokkummaa, dhugeeffanna'aa fi jajjabeenna jiruu kiristaanaa caalchittee mudhisiisaan beekkanti. Dabalamaan, jaalala guddaa ergamaan Phawuloos wolde'a kiristaana Filiphisiyyusiitiif qabu mudhisa.

Haadhoo Dubbi'ii

Seensa1:1-11

Haala Phawuloos keessa ture1:12-26

Le'ii Kiristoosiin le'anuu1:27–2:18

Yaada Ximootewoosii fi Epafrodiitusiif jiru2:19-30

Ifi eeggannoo diinotaa fi worra balaa fidu irratti kenname3:1–4:9

Galataa fi gorsa Phawuloos dhugeeffattoota Filiphisiyyusiitiif dhikeesse4:10-20

Yaada buufataa4:21-23

¹ Tajaajiltoota Yesuus Kiristoosii ka teene Phawuloosii fi Ximootewoos irraa:

Worra qachaa Filiphisiyyuusii keessa le'u, ka karaa Yesuus Kiristoosiitiin balchoome maraaf, akkasuma toowattootaa* fi gargaartuu† wolde'a kiristaanaatiif:

² Waaqi Abbaan keennaa fi Gootaan Yesuus Kiristoos badhaadhaa fi nageya isiniif kennu!

Galataa Fi Daadimannaa Phawuloosii

³ Ani yennaa isin qaabadhu maraa Waaqa galateeffadha;

⁴⁻⁵ Guyyaa qaraatii jalqaddanee haga ammaa hujii Oduu Gammadaa keessatti waan hirmaattaneef, yennaa isin maraaf daadimadhu maraa gammadaan daadimadha.

⁶ Waaqi hujii dansaa isin keessatti jalqabe, haga guyyaa Yesuus Kiristoos deebi'ee dhufuutitti, akka muummessu ani mama hin qabu.

⁷ Yennaa ani amma hidhameeruu fi adoo hin hidhamin Oduu Gammadaatiif falmadhuu fi isii jabeessu, isin martinuu na woliin badhaadha Waaqaa waan qoodantaneef, yennaa mara gadhaa kiyya keessa jirtan. Maarre marroo teessaniif yaadi natti dhage'amiisatti jiru sirri'i.

⁸ Jaalala Yesuus Kiristoosiitiin attam akka ani isin maraa dharra'u Waaqi hin beeka.

⁹ Jaalalli keessan beekkumaa fi hubanti'iin ka guutame te'ee ittuma akka guddatuuf hin daadimadha.

¹⁰ Waan irra caalu qorattanee akka beettanuu fi yennaa Kiristoos deebi'ee dhufu qulliiyye'ee fi komii malee akka dhaggantanuuf ani tana godha.

¹¹ Akka kanaan jiruun teessan midhaan balchumma'aa, ka Yesuus Kiristoosiin dhaggamuun ta guutante teetee, ka ulfinnaa fi galata Waaqaaf dhag-gisiittanu hin teetan.

Jiruu Jechuun Kiristoosiin Le'iisa

¹² Obboleeyyan tiyya! Wonni na dhaqqabe maraa, Oduun Gammadaa akka badhattu akka godhe, akka beettanu barbaada.

¹³ Akka ani Kiristoosiif jedhee hidhame, eedduu mana mootumma'aatii fi worra dhibii maraa biratti beekkameera.

¹⁴ Waan ani hidhameef dhugeeffattoota keessaa hedduun Goota'atti addataneeran; jecha Waaqaa sodaa malee lallabiisaafille ka qaraa caalaa jabeenna dhaggataneeran.

¹⁵ Worri gariin hinaaffa'aa fi qoxxe'een Kiristoos lallaban; worri kuun ammoo fedha dansa'aan lallaban.

¹⁶ Worri jaalala dansa'aan Kiristoos lallabu, akka ani Oduu Gammadaatiif falmatiisaaf as keyameeru hin beeka.

¹⁷ Worri halchaa fedha ifi hordofiisaan dabaan Kiristoos lallabu ammoo, hidhamuu kiyya irratti rakkinna dabaliisaaf yaadatane lallaban.

¹⁸ Womaa moti! Fakkeessiisaanille te'ee, dhuga'aanille te'u karaa maraan Kiristoos lallabameera! Ani kanatti hin gammada. Haganaa achille ittuma hin gammada;

¹⁹ sababille daadimannaa keessanii fi qarqaarsa Ayyaana Yesuus Kiristoosiitiin akka bilisa bawu hin beeka.

²⁰ Karaa tokkole'een akka ani hin qaanonne, halcha'aa fi addiin tiyya san; ammoo akkuma yennaa maraa tolchu, amma jiru'uun yookiin du'aan Kiristoos nafa kiyya irratti akka ulfaatu jabeenna guutuu hin qabaadha.

²¹ Maarre jiruu jechuun naaf Kiristoosiin le'iisa, duutille bu'aa tiyya.

²² Ani yoo fooniin jiraadhe, sun naaf hujii midhaan qaddu ittuma hujiisa; ammoo kam akka filadhu hin beeku.

²³ Waan lamaan kanaan rakkadheera: ani le'ii tana lakkisee, Kiristoos woliin le'uu fedha; kun waan mara caalaa naaf woyya.

²⁴ Te'uu malee fooniin jiraachuun kiyya isiniif caalaa barbaachisa'a.

²⁵ Ani kana hubatiisaan, akka isin dhugeeffanna'aan guddattanuu fi akka gammaddanu, isin maraa bira akka turuu fi akka jiraadhu beekeera.

²⁶ Ani yennaa deebi'ee gara keessan dhufe, booniisi isin Kiristoos Yesuusiin qaddanu sababa kiyyaan hin fakkana.

²⁷ Isinummaan akka Oduun Gammadaa ta Kiristoosii jettutti jiraadha'a; tana yoo gootane, ani dhufee yoo isin dhagge yookiin fagoo jiraadhee waan

keessan yoo dhage'e, dhugeeffannaa Oduu Gammadaatiif akka nama tokkoo teetanee falmatiisaan ayyaana tokkochaan jabaattanee akka dhaabbattanu hin beeka.

²⁸ Waan tokkolle'een mormitoota teessan sodaattanee hin raafamina'a! Jabeenni kun Waaqa irraa isiniif kenname; kunille isaaniif beessisa badi'ii ti; isiniif ammoo beessisa fayyinnaa ti.

²⁹ Carraa Kiristoositti dhugeeffatiisaa callaa adoo hin te'in, carraan isaaf rakkinna fudhatiisaalle, isiniif kennameera.

³⁰ Tanaaf akkuma kanaan dura rakkinni na geyeeruun dhaggitanee fi akkuma ammalle na geyiisatti jiruun dhageettanu, isinille rakkinnuma san fudhatiisatti jirtan.

2

Fakkeenna Te'iisa Ifi Gad Qabuu Kiristoosii

¹ Kiristoosiin jabeenna, jaalala isaatile'een jajjabeenna*, Ayyaana Woyyicha wolille'een tokkummaa yoo qabaattane, mararti'ii fi gadhi-laafummaa woliif yoo mudhittane,

² yaada tokko te'iisaan, jaalala tokko qabaatiisaan, ayyaanaa fi kaayo'oon tokko te'iisaan gammadi kiyya guutuu akka te'u tolcha'a.

³ Ifi gad qabiisaan worra dhibii ifi caalchisa'aatii ilaala'a malee, halchaa ifi jaalatiisaatiin, yookiin ifi saadiisaatiin waan tokkolle hin godhina'a!

⁴ Nami martinuu bu'aa worra dhibi'iille ilaaluutii malee, bu'aa ifii callaa hin ilaalin!

⁵ Yaada Kiristoos Yesuus qabaate isinille qabaadha'a:

⁶ Inni yennaa maraa adaba waaqumma'aa adoo qabuu, ulfinna waaqumma'aa, ka Waaqa woliin isa qixxeessu lakkisiis akka hin malleetitti hin laakkonne.

⁷ Ammoo ulfinna ifii lakkisee† akka garbaa te'ee mudhate; akka namaa te'ee dhalate; nama fakkaatee mudhate.

⁸ Ifi gad qabee, haga du'aatitti, haga fannifamee du'ulle'etti, ka ajajamu te'e.

⁹ Tanaaf Waaqi isa guddisee ol aansee, maqaa maqaa mara caalulle kenneef.

¹⁰ Tanaaf worri ol-gubbaa jiru, worri lafa irra jiruu fi worri lafa jala jirulle martinuu, ulfinna maqaa Yesuusiitiif hin jilbiiffatan.

¹¹ Arrabi martinuu, ulfinna Waaqa Abba'aatiif, Yesuus Kiristoos Goottaa akka te'e, dhugaa baasee hin dubbata.

Biyya Lafaa Keessatti Akka Ifaa Issuu

¹² Tanaaf, obboleeyyan tiyya! Yennaa mara akkuma ajajantane, yennaa ani isin bira jiru callaa adoo hin te'in, irra caalaa yennaa ani amma isin bira hin jirre ajajama'a! Soda'aa fi rommiisaan fayyinna keessan muummessiisaaf ittuma huja'a;

¹³ sababille yaada isaa muummessiisaaf, fedha akka qabaattanu ka isin keessatti huju Waaqa.

^{1:30} HuE. 16:19-40 * ^{2:1} Jajjabeenna: Tassiifama † ^{2:7} Ulfina ifii lakkisee: Afaan Giriikiitiin, «duwwaa ifi godhe» jedha

¹⁴ Waan mara gungumiisaa fi moromaa malee godha'a!

¹⁵ Yoo tana gootane, ijoollee Waaqaa ta komii hin qannee fi qulliyyee teetanee, dhaloota micciirama'aa fi hamaa kana keessatti akka urji'ii hin issitan.

¹⁶ Jecha jiru'uu jabeessitanee yoo qabattane, rukke'ee fi dadhabbiin tiyya gatii malee waan hin hanneef, guyyaa Kiristoos mura'aaf dhufu waan ittiin ifi jaju hin qabaadha.

¹⁷ Ciinca'aa fi kennaa isin dhugeeffanna'aan Waaqaaf kennitanu irratti, dhiigi kiyyalles akka dhibaayyu'uu adoo dhibaafamelle'ee ani hin gammada, isinille gammada kiyya na woliin hin goodantan.

¹⁸ Akkasuma isinille gammaddanee, gammada keessan na woliin goodamuu qaddan.

Tajaajila Ximootewoosiitii Fi Ephafrodixosii

¹⁹ Marroo teessan dhage'ee gadhaan kiyya akka gammaduuf, dafee Ximootewoos gara keessan ergiisaaf Gootaa Yesuusitti addii godhadha.

²⁰ Nama nageya keessaniif gadha'aan isiniif yaadatu ani isa malee hin qabu.

²¹ Worri kuun maraa Yesuus Kiristoosiif adoo hin te'in, bu'aa ifii barbaadatan.

²² Ximootewoos ammoo nama addatam isaa mirkanaaye akka te'e, na wolille'een akka abba'aa fi ilmaa teenee, hujii Oduu Gammadaa hujaa akka turre isinuu hin beettan.

²³ Dubbiin tiyya maan akka teetu akkuma beekeen isa gara keessan akka ergu hin addadha.

²⁴ Aninuu gara keessan dafee akka dhufu Goota'atti addii qaba.

²⁵ Akkasuma, obboleessa kiyya Ephafrodixos, ka cinaa tiyya dhaabbatee loltichaa fi waa'ela hujii tiyyaa te'e, ka waan naaf barbaachiseen akka ana tajaajiluuf isin ergitane, ergamaa keessan san deebisee gara keessan erguun barbaachisaa teetee natti mudhatteerti.

²⁶ Inni isin maraa dhaggiisaaf dharra'eera; akka inni dhukkuffateeru waan dhageettanelle'eef yaadeera.

²⁷ Inni dhugumaan akka malee dhukkuffatee du'a geyeeraayyu. Waaqi ammoo isaaf marareera; isa calla'aaf adoo hin te'in, akka ani gadda irratti gadda hin dabalanneef analle'eef marareera.

²⁸ Tanaaf isin isa deebitanee dhaggitanee akka gammaddanuu fi gaddi kiyyalles akka goomuuf, isa gara keessan ergiisaaf guddoo fedheera.

²⁹ Maarre maqaa Goota'aatiin gammada guutu'uun isa fudhadha'a; nama akka isaa jiru mara ulfeessa'a.

³⁰ Qarqaarsa isin naaf kennuu hin dande'in guutiisaaf jedhee, adoo jiruu ifitiifille hin qorin, hujii Kiristoosiitiif du'a geyeeraayyu.

3

Balchummaa Dhugittii

¹ Muummee irratti, obboleeyyan tiyya! Goota'atti gammada'a; waan kanaan dura isiniif barreesse irra deebi'ee yoo isiniif barreesse na hin bagsiisu; kun isinille dokonkora irraa hin eega.

² Worra akka sare'ee foon nafa namaa kukkutiisaan*, hantuu godhu irraa ifi eeggadha'a!

* **3:2** Foon nafa namaa kukkutiisaan: Haqanqabaa qabiisaan

³ Nuuti worra Ayyaanaan Waaqa waaqonfannuu fi worra Yesuus Kiristoosiin ifi jajnu malee, worra sirna fooniititti addannu waan hin te'iniif, dhugumaan haqanqabaa qabanneerra.

⁴ Adoo waan ifi jajiis barbaachisaa te'e, ani waan heddu'uun ifi jajiisaaf hin dande'a; nami sirna fooniitiin ifi jaju yoo jiraate, ani isa caalaa waan ittiin ifi jaju qaba.

⁵ Dhaladhee guyyaa saddeetesso'oo haqanqabaa qabadhe; sanyii Israa'elii, gosa Beniyaamii keessaa dhaladhe. Abbaan kiyyaa fi haati tiyya Ibroota waan te'aneef ani Ibraawicha makaa hin qanne; karaa seera eegatiisaatille'een, ani worra Fariisaayotaa keessaa tokko.

⁶ Seera kanaaf hinaafiisaan wolde'a kiristaanaa miidhaa ture; balchummaan seera eegatiisaan waan dhaggantu adoo teetee, ani komii hin qabuuyyu.

⁷ Amma ammoo Kiristoosiif jedhee, waan bu'aa naaf qabu maraa akka waan bu'aa hin qanneetitti laakkoweera.

⁸ Kana calla'aa moti; Goottaa kiyya Yesuus Kiristoos beekuun, waan mara waan caaluuf, ani waan maraa akka waan bu'aa hin qanneetitti hin laakkowa; Kiristoos bu'aa kiyya godhatiisaaf kun maraa naaf waan bu'aa hin qanne te'eera; akka kosi'iille laakkoweera.

⁹ Akkisiin ani ka Kiristoosii te'ee dhaggame. Maarre balchummaan tiyya ta seera eegatiisaan dhaggante adoo hin te'in, Kiristoositti dhugeeffatiisaan ta dhaggante; balchummaan tun Waaqa irraa dhutti; dhugeeffannaa irralle'etti hundootti.

¹⁰ Ani Kiristoosii fi hunna du'aa ka'a isaa beekuu, rakkinna isaa goodamu'uu fi du'alle'een isa fakkaatuu barbaada.

¹¹ Du'aa ka'ee akka jiraadhu hin addadha.

Gara Waan Yaadatamee Geyiisaaf Rukkisuu

¹² Kana maraa dhaggadheera yookiin guutadheera jechu'uu moti; ammoo Kiristoos ka ifii na godhatee badhaasa naaf qopheesse san harkatti galfatiisaaf hin mixiixxadha.

¹³ Obboleeyyan tiyya! Ani ammalle akka waan harka keessa galfadheetitti hin laakkowu. Te'uu malee ani waan tokko hin godha; waan duubatti hafe lakkisee, gara waan na dura jiruutitti hiixxadha.

¹⁴ Badhaasa kiyya dhaggatiisaafille gara yaada na dura jiruu rukkisa; badhaasi kunille jiruu Waaqi karaa Yesuus Kiristoosiitiin gara ol-gubba'aa na waamee naaf kennu.

¹⁵ Yoona nuuti worri jiruu ayyaanaatiin bilchaanne maraa yaada tokko qabaatuu qanna; waan tokko tokko irratti yaada adda addaa yoo qabaatanelle, Waaqi sanille isiniif hin mudhisa.

¹⁶ Te'uu malee waanuma duraan baranne callaa jabeessinee qabannuu ti.

¹⁷ Obboleeyyan tiyya! Fakkeenna kiyya hordofiisatti hirmaadha'a! Worra fakkeenna keenna hordofulle hubadha'aa ilaala'a!

¹⁸ Kanaan dura akkuma yennaa hedduu isinitti hime, ammalle imimaaniin isinitti hima; worri hedduun fannoo Kiristoosiitiif diina te'aneeran.

¹⁹ Muummeen isaanii badi'i; gadhaan isaanii waaqa isaanii ti; salphinni isaanii ulfinna; waan lafaa gofa yaadatan.

²⁰ Nuuti ammoo nama biyya ol-gubba'aa ti; nuuti Goottaa keenna Yesuus Kiristoos, Fayyisaa achii dhufu dharra'aan eeganna.

²¹ Inni hunna ittiin waan mara baallii ifii jala godhuun, nafi keenna salphataan kun, nafa isaa ka ulfinna qabu san akka fakkaatuuf hin jijjiira.

4

Gorsa Muumme'ee

¹ Maarre tanaaf, obboleeyyan tiyya ta ani jaaladhuu fi dharra'u, ta gammadaa fi kallacha kiyya teetane*, Gootta'aan jabaadha'aa dhaabbadha'a.

² Obboleettoti teenna Ewodiya'aa fi Sinxiikeen maqaa Gootta'aatiin gadhaa tokko akka te'anuu daadimadha.

³ Atille waa'elli kiyya addatamaan, dubartoota tana akka qarqaartuuf si kadhada; dubartooti tun, Kilemensii fi worra dhibii worra maqaan isaanii kitaaba jiru'uu keessatti barreeffame, lansoota tiyya waliin te'ane, Oduu Gammadaa dhaqqassiisiisaaf na waliin jabaatanee hujaneeran.

⁴ Yennaa mara Gootta'aan gammada'a! Ittuma deebi'ee jedha, gammada'a!

⁵ Qajeelummaan teessan nama mara biratti ta beekkante teetuu ti; Gootaan dhufiisa geyeera.

⁶ Maarre daadimataan, gaaffii fi galataan waan mara Waaqatti beessisa'a malee waan tokkole'eef hin yaadina'a.

⁷ Nageenni Waaqaa ka hubantii namaa mara caalu, karaa Yesuus Kiristoosiitiin gadha'aa fi qalbii teessan hin eega.

⁸ Muummee irratti obboleeyyan tiyya! Qalbii teessan waan dansa'aa fi waan galateeffachiisuun guuta'a: waan dhugaa te'e, waan ulfinnaa, waan sirrii te'e, waan qulluu te'e, waan gammachiisuu fi waan galata qabu maraa yaadadha'a!

⁹ Waan na irraa barattane, waan na irraa fudhattane, waan na irraa dhageettanee fi waan ani hujuun dhaggitane maraa isinille tolcha'a! Waaqi abbaan nageyaa isin waliin hin jiraata.

Phawuloos Kennansa Ergameef Galateeffate

¹⁰ Yennaa heddu'uun duuba ammalle naaf yaadatuun waan jalqaddaneef, ani Gootta'atti guddoo gammada. Duraanuu dhugumaan naaf yaadataa turtane; huji'in mudhisiisaaf ammoo daguu hin dhaganne.

¹¹ Kana jechuun kiyya ani gatameera jechu'uu moti; ani, «Ka qabuu na geya» jechuu baradheera.

¹² Ani waan diqqo'oo fi haga barbaachisuun caalaalle horatiis maan akka te'e beeka; maarre ani dhossaa haala maraa fi addee maratti quufaa fi beelaan, haga naa barbaachisuun gadii fi haga naa barbaachisuun ol qabaatiisalle baradheera.

¹³ Hunna Kiristoos naaf kennuun waan mara godhiisaaf hin dande'a.

¹⁴ Te'uu malee rakkinna kiyya waan qoodantaneef, dansaa gootaneertan.

¹⁵ Yennaa ani jalqaba Oduu Gammadaa lallabiisaaf Magedooniya'aa baye, isin malee wolde'i kiristaanaa tokkole kenniisaa fi fudhatiisaan na qarqaariisaaf akka hin hirmaatin, isin worri Filiphisiyyuusii hin beettan.

¹⁶ Yennaa ani Tasalongeelle'etti rakkadhe, itti deddeebitanee qarqaarsa naaf ergitaneertan.

¹⁷ Kenniisaan ittuma eebba akka dhaggattanuuf malee, kennaa teessan dhaggatiisaaf barbaadeetii moti.

¹⁸ Waan naaf barbaachisuu fi haga naaf barbaachisuun caalaalle fudhadheera; kennaa isin naa ergitane harka Ephafrodixosii irraa fudhadhee naa mijootteerti; kennaan teessan tun, akka ciincaa uddaa qabuu, ka Waaqi fudhatuutii fi itti gammadu ti.

¹⁹ Waaqi kiyyalle durummaa ulfinna ifitiin, karaa Yesuus Kiristoosiitiin, waan isiniif barbaachisu maraa isiniif hin mijeessa.

* 4:1 Kallacha kiyya teetane: Ta ani isiniin gammadu fi boonu 4:15 2 Qor. 11:9 4:16 HuE. 17:1

²⁰ Waaqa Abbaa keennaaf ulfinni bara baraa haga bara baraa te'u! Ameen.

Dhaansa Nageyaa

²¹ Kolbaa Waaqaa maratti maqaa Yesuus Kiristoosiitiin nageya naaf hima'a; obboleeyyan asi na woliin jirtulle nageya isiniif dhaanti.

²² Kolbaa Waaqaa mara, keessattuu worri mana mootii worra Rooma'aa keessa jiru nageya isiniif dhaama.

²³ Badhaadhi Goottaa Yesuus Kiristoosii isin woliin jiraatu.

Ergaa Phawuloos Gara Worra Qolosaayisii Erge Seensa

Ergaan tun wolde'a kiristaanaa ka qachaa Qolosaayisii keessa jiruuf barreeffante; Qolosaayisii ardii Asiyaa diqqaa keessatti qachaa Efesooniitiin gara baya adu'utitti dhaggama. Wolde'i kiristaanaa kun Phawuloosiin ijaaramuu dhabulle, Efesoonii qachaa guddicha Asiya'aa, ka bulchiinsa Rooma'aa jala jiru irraa ergantoota Wongeelaa waan bobbaaseeruuf, Qolosaayisiifille itti gaafatamummaa qabaayyu. Wolde'a kiristaana Qolosaayisii keessa barsiisoti dharaameyyiin, «Waaqa beekiisaa fi fayyinna guutuu dhaggatiisaaf nami tokko tokkonuu hunnootaa fi baallota ayyaanaatiif sagaduu qaba» jedhanu akka jiranu Phawuloos dhage'eera. Wonni barsiisoti tun jettu ta biraa, «Nami tokko tokkonuu waan akka haqanqabaa qabatiisaatii fi seera sagale'eetii fi waan biraa eegatuu qaba» jetti.

Phawuloos ergaa kiristaanaa dhugicha dhikeessiisaan, barumsa isaanii dharicha mormiisaaf ergaa tana barreesse. Deebiin inni dhikeesse keessaa gugurdoon, «Yesuus Kiristoos fayyinna guutuu kenna; dhugeeffanna'aa fi hujjiin dhibiin tun isa irraa fageessiti» ka jedhu. Waaqi Kiristoosiin biyya lafaa dade; karuma isaatiin gara ifii deebisee fida; biyyi lafaa Kiristoositti gadha'aan dhugeeffatiisa qofaan addii fayyiisaa qabaatti; akka kanaan barumsi guddaan kun jiruu dhugeeffattootaa keessatti hujii irra ooliisaaf akka dande'u hubachiisa.

Ergaa tana Phawuloos irraa fuudhee, gara Qolosaayisii akka geessuuf, Tikiqoosii ergame woliin ka jiru Oneesimoos akka te'e ilaaluun bu'aa qabeessa. Phawuloos marroo garbicha Oneesimoos jedhamee kana kaasee, ergaa dhibii Filimoona'aaf barreesseera.

Haadhoo Dubbi'ii

Seensa1:1-8

Akeekaa fi hujii Kiristoosii1:9–2:19

Jiruu haareya karaa Kiristoosiitiin2:20–4:6

Yaada buufataa4:7-18

¹ Ana Phawuloosii fedha Waaqaatiin ergamaa Yesuus Kiristoosii te'ee fi obboleessa keenaa Ximootewoos irraa,

² dhugeeffattoota Kiristoosiin woyyoontanee fi addatantane, ka qachaa Qolosaayisii keessa jirtanuuf:

Waaqi Abbaan keenaa badhaadhaa fi nageya isiniif kennu.

Phawuloos Worra Qolosaayisii Galateeffate

³ Yennaa isiniif daadimannu, yennaa mara Waaqa Abbaa Goottaa keenaa Yesuus Kiristoosii hin galateeffanna.

⁴ Sababille Kiristoos Yesuusitti dhugeeffatuu keessanii fi kolbaa Waaqaa mara jaalachuu keessan dhageenneerra.

⁵ Jecha Waaqaa ka teete Oduun Gammadaa, yennaa jalqaba gara keessan geette, addii isii keessa jirtu dhageettaneertan; tanaaf dhugeeffanna'aa fi jaalalli keessan addii ol-gubba'atti qophoottee, isin eegattu irratti hundootte.

⁶ Isin Oduu Gammadaa tana haga dhageettanee fi dhugummaa badhaadha Waaqaalle guyyaa hubattaneen jalqaddanee, Oduun Gammadaa tun odduu

teessanitti akkuma teete, biyya lafaa duudii keessatti midhaan buusiisaa fi guddatiisatti jirti.

⁷ Ephafraas jaalatamaa ka addee teenna bu'ee tajaajilaa addatamaa Kiristoosii te'ee fi ka nu wolille'een hojjatu irraa tana barattaneertan.

⁸ Ayyaana Waaqaatiin isin wol jaalatiisa keessanille inni nutti himeera.

⁹ Tanaaf guyyaa waan kana dhageennee jalqannee, isin qaroomaa fi hubantii Ayyaanaa maraan, beekkuma guutuu ka ittiin fedhii Waaqaa hubatanu akka qabaattanu isiniif daadimatiisaa fi Waaqa gaafatiisa hin lakkinne.

¹⁰ Akka isin akka Gootta'aa maltetti le'iisaan guutuma guutu'utti isa gammachiittanu, hujii dansaa hujiisaan midhaan akka buuttanuu fi Waaqalle beekiisaan ittuma guddattanu hin daadimanna.

¹¹ Goottaan hunna ifii ulfaata'aan, jabeenna isiniif kennu; waan mara ossaan dande'iisaafille ka gammaddanu isin godhu.

¹² Mootummaa ifaa keessatti worra woyyicha woliin dhaala akka qoodatanu, Waaqa Abbaa isin geessiselle gammadaan galateeffadha'a.

¹³ Inni hunna dukkanaa jalaa nu fayyisee gara mootummaa Ilma jaalatamee akka gallu nu tolcheera.

¹⁴ Nuuti Ilma isaatiin wodannee, araara cubbuu teennaa dhagganneerra.

Ol Aantummaa Kiristoosii

¹⁵ Kiristoos Waaqa ilaan hin dhagganneef fakkeenaa dhugaamessa. Inni angafa waan dadame maraa ti.

¹⁶ Sababilleen wonni ol-gubba'aa fi lafa irra jiru, wonni mudhatuu fi hin mudhanne, hunnootii fi bulchitooti ol-gubba'aa, dura aantole'ee fi worri baallii qabanu duudiinuu isaan dadamane. Waaqi waan duudii karaa isaatii fi isaaf dade.

¹⁷ Inni waan duudi'iin duraa jira; wonni duudiin isaan wol qaqqabatee dhaabbate.

¹⁸ Inni wolde'a kiristaanaa ka nafa isaa te'eef mata'a; waan maraan ka durse te'iisaaf, du'aa ka'iisalle'een ka qaraatii fi ka jalqabaa ti.

¹⁹ Guutummaa waaqummaa'aa Ilma isaa keessa akka jiraattu, fedha Waaqa Abba'aa waan te'eef tun teete.

²⁰ Waaqi waan ol-gubbaa jirulle te'ee, waan lafa irra jiru mara ifi woliin araarse; dhiiga Ilma ifii ka fannoo irratti jigeen nageya buuseera.

²¹ Duraan Waaqa irraa fagaattanee le'aa turtane; waan hantuu yaadiisaa fi hujiisaan diina isaa teetaneertaniyyu.

²² Amma ammoo woyyoole'ee fi qulqulloolee, ka komiille hin qanne isin godhee fuula ifii duratti dhikeessiisaaf, Ilmi isaa nafa namumma'aatiin waan du'eef Waaqi ifi woliin isin araarse.

²³ Te'uu malee dhugeeffanna'aan hundoottanee*, jabaattanee dhaabbachu'uun, addii karaa wongeelaatiin dhageettane irraa hin tacho'ina'a. Wongeelli kunille kama isin dhageettanee fi worra biyya lafaa irra jiru maraaf lallabameeru; ani Phawuloosille tajaajilaa wongeela kanaa te'eera.

Tajaajila Ergaummaa Phawuloosii

²⁴ Ani amma isiniif rakkachuu kiyyaan hin gammada; marroo wolde'a kiristaanaa ka nafa isaa te'eelle, rakkinna Kiristoosii qoodamiisa irraa waan naa dhidhate foon kiyyaan rakkatiisaan hin guuta.

²⁵ Jecha Waaqaa guutuma guutu'utti isiniif mudhisiisaaf, akkuma itti gaafatamummaan naa kennantetti ani tajaajilaa wolde'a kiristaanaa te'eera.

²⁶ Jechi Waaqaa kunille, dhossaa baroota dabarane ilmaan namaa duraa dhokattee turtee, amma ammoo kolbaa isaatitti mudhifante.

²⁷ Waaqi dhossaa ifi ta ulfinna guutuu qaddu tana worra Yihudoota hin te'in oddu'utti, kolbaa ifiititti mudhisuu filateera. Dhossaan mudhatte tunille Kiristoosii isin keessa jiru; inni ulfinna isin dhaggattanuuf addii keessan.

²⁸ Maarre nuuti nama maraaf Kiristoos lallanna. Nami mara Kiristoosiin ka bilchaate akka te'u, qarooma maraan nama mara hin gorsina, hin barsi-innalle'e.

²⁹ Tun akka teetuuf, karaa hunna jadduu Kiristoos kennuu, ta ana keessatti hujiisatti jirtuutiin, ani wodhaantoo qabataa itti elowa.

2

¹ Ani isinii fi worra Laa'odiiqeyaatiif, akkasuma worra fuula kiyya hin dhaggin maraaf attam akka elowiisatti jiru akka beettanu barbaada.

² Akka gadhaan isaanii jajjabaatuu fi jaalalaan wolitti hidhamanee, hubantii durummaa addachiittuu maraa fi dhossaa Waaqaa ka te'e Kiristoos akka beekanuuf tana godha.

³ Karri qaroomaatii fi beekkumaa marti Kiristoos keessa dhoffantee jirti.

⁴ Akka eennulle jecha dansaa fakkaatuun isin hin sonneef ani tana jedha.

⁵ Ani fooniin isin woliin jiraachuu dhabulle ayyaanaan isin woliin jira; seera dansa'aan le'uu keessanii fi dhugeeffannaa jadduu isin Kiristoositti qaddanu dhaggiisatti hin gammada.

⁶ Yoona Yesuus Kiristoos Gootaa godhattanee, akkuma fudhattanetti isaan le'a'a.

⁷ Akkuma barattanetti hidda gadi naqadha'aatii, isatti ijaarama'aatii, dhugeeffannaa teessaniin jabaadha'a; galata guutee dhangala'ulle dhiyeessa'a.

⁸ Akka barsiisa Kiristoosiititti adoo hin te'in, qarummaa namaatii fi gowwoonsiisa waan tokko ifi keessaa hin qanne, ka aadaa namaatii fi ayyaanota gubba'aa fi lafa bulchanu irratti hundayeen, eennulle akka isin hin boojine ifi eegadha'a.

⁹ Guutummaan waaqumma'aa mijuun Kiristoosiin nafaan mudhattee jiraatti.

¹⁰ Isinille Kiristoosii dada ifi duudii irratti mataa bulchiisaatii fi baallii maraa te'een, jiruu guutuu dhaggattane.

¹¹ Isin waan isaan jirtanuuf haqanqabaa qabattaneertan; haqanqabaa qabatuun keessan kunille namummaa foonii cubbicha balleessiisaaf ka Kiristoosiin te'e malee, ka harka namaatiin te'ee moti.

¹² Yennaa cuuphantane Kiristoos woliin awwaalantane; isa wolille'een du'aa kaataneertan; hunna Waaqaa ka Kiristoos du'aa kaasetti waan dhugeeffattaneef, du'aa kaatane.

¹³ Cubbaaleyyii te'uu keessanii fi foon cubbaaleessi keessan sun waan haqanqabaa hin qabatiniif isin worra du'eeru; amma ammoo Waaqi Kiristoos woliin jireeyyii isin godheera; yakkaa teessanille duudii isiniif araameera.

¹⁴ Inni barreeffama beenya'aa* ka seera keessa jiru, ka nu himataa nu'uun mormaa ture san balleesseera; fannoo irralle'etti diree nu irraa balleesseera.

¹⁵ Worra hunnaa fi baallii ayyaanaa qabu fannoo saniin injifatee, hidhata isaanille hiissisee, badhinnatti bayanee akka mudhatanu godhee itti geerare.

* **2:14** *Beenya'aa*: Lafa tokko tokkotti beenna'aa jedhan.

¹⁶ Yoona marroo nyaataatii yookiin marroo unto'ootii, marroo guyyaa jilaatii yookiin marroo baatii laakkowu'uu, yookiin marroo Sanbata ulfeessu'uutiif eennulle isinitti hin murin.

¹⁷ Isaan kun waan gara duraa dhufuuf akka gaaddiddu'uu ti; dhugaan ammoo Kiristoos keessa jirti.

¹⁸ Nami sobee ifi gadi qabiisaa fi ergantoota ol-gubba'aa waaqonsiisaan ifi jaju, worra gatii hin qanne akka isin hin goone ifi eegadha'a; nami akkasii kun marroo mudhii dhagguutiif ifi saadee, waan gatii hin qanneef yaada fooniitiin ifi jaja.

¹⁹ Nami akkasii, Kiristoosii mataa nafaa te'eerutti qabatiisa lakkiseera; nafa duudii mitika'aa[†] fi ribu'uun wolitti qassiisee ka nyaachisu mata'a; akkasiin guddinna Waaqi fedhu nafi guddata.

²⁰ Eega Kiristoos waliin duutane, ayyaanota gubba'aa fi lafa bulchanu jalaa bilisa baatane, maaf akka waan ka biyyaa lafaa teetaneetitti leetan ree? Maaf seera,

²¹ «Kana harkaan hin qabin, san afaaniin hin qabin, kaan hin tuqin!» jedhuuf ajajantan ree?

²² Kun maraa ajaja nami baasee fi barumsa namaa irratti waan hunday-eeruuf, hujii irra ooleen duuba bu'aa hin qabu.

²³ Seeroti akkasii kun, waaqonfannaa fedha ifii, ifi gad qabiisa dharaatii fi nafa ifii rakkisuu irratti waan xiyyeeffatanuuf, waan qarooma qabanu fakkaatan; karaa halchaa foonii toowatiisaatiin ammoo gatii hin qabanu.

3

Jiruu Haareya Kiristoosiin

¹ Yoona eega Kiristoos waliin du'aa kaatane, waan ol-gubbaa addee Kiristoos midda Waaqaatitti tee'eeru jiru barbaada'a!

² Marroo waan ol-gubbaa jiruu yaadadha'a malee, marroo waan lafa irra jiruu hin yaadatina'a.

³ Isin duutaneertan; jiruun teessanille Kiristoos waliin Waaqa keessa dhokatteerti.

⁴ Kiristoosiin jiruu nuuf te'e yennaa mudhatu, isinille isa waliin ulfinnaan hin mudhattan.

⁵ Tanaaf halchaa le'ii lafaa ta isin keessa jirtu: sagaagala, battummaa, fedhii sagaagalaa, halchaa baddu'uu fi waaqota dharaa waaqonsuu ka te'e joljooluu ijjeesa'a.

⁶ Sababa waan kanaatiif worra hin ajajanne irratti mufiin Waaqaa hin dhutti.

⁷ Isinille yennaa worra waan akkasii hujju odduu leetanu san waan kana tolchaa turtane.

⁸ Amma ammoo; mufii, aarii, jallu'uu fi maqaa wolii balleessuu mara ifi irraa balleessa'a; dubbiin nama fokkisiittulle afaan keessan keessaa hin bayin.

⁹ Namummaa dullacha hujii isaa waliin ifi irraa baattanee waan gatta-neertanuuf, dhara wolitti hin dubbatina'a.

¹⁰ Namummaa haareyalle uffattaneertan; isiille ta akka guutuma guutu'utti isa beettanuuf, Waaqi isii dade fakkeenaa ifiititti haaressiisatti jiru.

¹¹ Akka kanaan worra Giriikootatii fi worra Yihudootaa, worra haqan-qabaa qabatee fi ka haqanqabaa hin qabatin, orma beekkichaa fi orma gowwicha, ka bilisummaa qabuu fi ka bilisummaa hin qanne odduu garaa garummaan hin jirtu; Kiristoos ammoo duudi'i, duudii keessa jira.

[†] 2:19 Mitikaa: Yookiin mikitaa 3:9 Efe. 4:22 3:10 Efe. 4:24

¹² Yoona worra Waaqaaf filatantane, woyyoontanee fi jaalatantane akkuma teetanetti naasuu, arjummaa, ifi gad qabiisa, qajeelumma'aa fi ossata uffadha'a.

¹³ Wol dande'a; nami namatti quuqameeru yoo jiraate, woliif araarama'a; akkuma Kiristoos isiniif araarama, isinille woliif araarama'a.

¹⁴ Kana mara caalaa jaalala waan mara tokkummaa miju'uun wolitti hidhu uffadha'a.

¹⁵ Nageenni Kiristoosii, ka isin nafa tokko te'iisaaf itti waamantane, gadhaa keessan keessatti mowuu ti; worra galateeffatulle te'a.

¹⁶ Jechi Kiristoosii durummaa ifitiin gadhaa keessan keessa le'uu ti; qarooma duudi'iin wol barsiisa'a, wol gorsa'a; faaruu adda addaa, faaruu leellisaatii fi faaruu Ayyaantitti'iin Waaqa gadha'aan galateeffataa faarsa'a.

¹⁷ Karaa Yesuusiitiin Waaqa Abbaa galateeffataa, jechaan yookiin hujii'ii waan gootanu mara maqaa Goottaa Yesuusiitiin godha'a.

Seera Le'ii Maatii Kiristaanaa

¹⁸ Haadhotii manaa! Goottaa duratti waan male waan te'eef abbootii manaa keessaniif ajajama'a.

¹⁹ Abbootii manaa! Haadhotii manaa teessan jaaladha'a; gadhaa jabeeyyille itti hin te'ina'a.

²⁰ Ijoollee! Kun waan Goottaa gammachiisu waan te'eef, haadhaa fi abbaa keessaniif ajajama'aatii, waan isaan jedhanu mara godha'a.

²¹ Abbootii! Akka isaan addii hin kutanne, ijoollee teessan hin aarsina'a.

²² Worri garbooma jala jirtanu! Goottolee teessan ta lafaatiif waan maraan ajajama'a; ila isaanii duraa fi isaan gammachiisuu qofaaf adoo hin te'in, Goottaa sodaatiisaa fi gadhaa qajeela'aan isaaniif ajajama'a.

²³ Woma gootanu maraa namaaf adoo hin te'in, akka waan Gootta'aaf gootanuutitti, gadhaa tokkochaan godha'a.

²⁴ Sababille Goottaan dhaala ol-gubba'aa gatii tolchee akka isiniif kennu isin hin beettan; Goottaan isin tajaajiltanulle Kiristoos.

²⁵ Nama woli caalchisuun Waaqa bira waan hin jirreef, nami balleessaa huju, balleessaa ifii saniif gatii hin dhaggata.

4

¹ Goottole'e! Isinille ol-gubba'atti Goottaa akka qaddanu beeka'aatii, tajaajiltoota teessan qajeelumma'aa fi wol qixxumma'aan bulcha'a.

Gorsa Dabalataa

² Waaqa jabaattanee galateeffatiisaan, adoo addaan hin kutin daadimadha'a.

³ Akkasuma dhossaa Kiristoosii, ka ani marroo isi'iitiif hidhamee jirulle lallabiisaaf akka dandeenu, Waaqi ergaa ifitiif akka karaa nuu banu daadimadha'a.

⁴ Anille akka maltetti ifa tolchee ergaa isaa akka dubbadhu naaf daadimadha'a.

⁵ Yennaa daguu teete maratti fayyadamaa, worra hin dhugeeffanne biratti qaroomaan le'a.

⁶ Nama tokko tokkoofuu deebii malte deebisiisa akka beettanu, haasonni keessan yennuma maraa ka gurratti toluu fi ka akka sooddaa mi'awu te'uu ti.

⁷ Tikiqoos, marroo waan kiyyaa waan mara isinitti hin hima; inni tajaajilaa addatama'aa fi lansa kiyya ka hujii Gootta'aa na woliin huju.

⁸ Akka inni marroo teenna isinitti himuu fi gadhaa keessan jajjabeessuuf, isa gara keessan erge.

⁹ Isa wolille'een nama keessan ka te'e, obboleessi addatama'aa fi jaalata-maan Oneesimoos gara keessan hin dhufa; isaan waan asitti te'iisatti jiru duudii isinitti hin himan.

¹⁰ Arisxaarkosiin na woliin hidhameeru nageya isiniif dhaama. Durriin Baarnaabaasii Maarqoosiin ani duraan, «Yennaa inni gara keessan dhufe fudhadha'a jedhee isin yaadachiiselle» nageya isiniif dhaama.

¹¹ Yoshu'aan Yuxsos jedhamulle nageya isiniif erga; worra marroo mootummaa Waaqaatiif na woliin huju keessaa, worri Yihudootaa kana qofa; isaan analle jajjabeessaneeran.

¹² Akkasuma Ephafraasiin nama keessan te'e, tajaajilaan Kiristoos Yesuusii nageya isiniif erga; jiruu ayyaanaatiin guddatiisaan jabaattanee, akka dhaabbattanuu fi fedha Waaqaa mara akka muummessitanu, inni yennaa mara isiniif jabaatee daadimata.

¹³ Inni isinii fi worra qachoota Laa'odiiqeya'aatii fi Heraapholisii keessa jiruuf guddoo akka elowe aninuu dhugaa hin bayaaf.

¹⁴ Cidheessi jaalatamaan Luqaasii fi Deemaas nageya isiniif dhaaman.

¹⁵ Obboleeyyan Laa'odiiqeyaa keessa jirtu Niimfa'aa fi wolde'a kiristaanaa ka mana isi'iititti wolitti qabamuuf nageya naa hima'a!

¹⁶ Xalayaa kana ifii dubbifattaneen duuba, wolde'a kiristaanaa ka Laa'odiiqeyaa keessa jirulle'etti akka dubbifamu godha'a. Isinille xalayaa Laa'odiiqeyaa irraa ergamu dubbifadha'a.

¹⁷ Arkiphosille'een, «Hujji karaa Gootta'aatiin fudhatte san akka muummessitu te'i» jedha'aa naa hima'a.

¹⁸ Ani Phawuloos nageya kana harkuma kiyyaan isiniif barreesse; akka ani wodaroo sibiilaatiin hidhamee jiru yaadadha'a!

Badhaadhi Waaqaa isin woliin jiraatu.

Ergaa Phawuloos Gara Worra Tasalongqe'ee Erge Ta Qaraa Seensa

Tasalongeen qachaa guddaa lafa biyyi Rooma'aa bulchu, ta mage-dooniyaa jedhamuu ti. Phawuloos, Filiphisiyyuus lakkisee deemeen du-uba Tasalongqe'etti wolde'a kiristaanaa dhaabe. Teetuu malee, worri Yihudoota hin te'in ka dhugeeffannaa Yihudootaa fudhatiisaaf dhiyaate, barsiisa dhugeeffanna'aa ka Phawuloos barsiisu waan jaalataneef, worri Yihudootaa gaabbee, Phawuloos irratti moromaa kaase. Tanaaf Phawuloos biyya Tasalongqe'ee lakkisee gara Beeriya'aa deemiisi dirqama itti te'e. Diggoo turee, qachaa Qorontoosii geyeen duuba, waa'elli isaa Ximootewoos ka isa woliin huju waan wolde'a kiristaana Tasalongee keessaa tokko tokkoon itti hime.

Phawuloos ergaa ifii ta gara worra Tasalongqe'ee qara erge keessatti, dhugeeffattoota achi jiranu jajjabeessiisaa fi mirkaneeffachiisiisaaf barreesse. Inni marroo dhugeeffanna'aa fi jaalala isaanii, oduu dansaa waan dhage'eef Waaqa galateeffata; wodhakkaa isaaniititti yennaa dhaggame, le'ii attamii akka le'een isaan qaabata; achiin duuba gaaffii marroo dhufa lammoo Kiristoosiitiif, wolde'a kiristaanaa keessatti kaateef deebii kenna. Gaaffii san keessaa gariin: dhugeeffataan Kiristoos adoo deebi'ee hin dhufin dura du'e tokko, jiruu bara baraa ta deebi'ee dhufiis Kiristoosii fidu keessatti gooda hin dhaggataa? Kiristoos yoom deebi'ee dhufa? Ta jettu fa'a. Phawuloos daguu tana keessatti, «Deebi'ee dhufa Kiristoosii addi'iin adoo eegattanuu, cadhisa'aatii hujii teessan hujadha'a» jedhaa isaan gorsa.

Haadhoo Dubbi'ii

Seensa1:1

Eebba galataatii fi leellisa1:2–3:13

Gorsa adaba dhugeeffattootaatiif kenname4:1-12

Gorsa marroo dhufa Kiristoosiitiif kenname4:13–5:11

Gorsa muumme'ee5:12-22

Yaada buufataa5:23-28

¹ Phawuloos, Silwaanosiis fi Ximootewoos biraa:

Wolde'a kiristaanaa, ka Waaqa Abba'aatii fi Goottaa Yesuus Kiristoosii teetane, ka Tasalongee keessa jirtanuuf:

Badhaadhaa fi nageenni isiniif te'u.

Jiru'uu Fi Dhugeeffannaa Worra Tasalongqe'ee

² Nuuti daadimata keenaa keessatti isin qaabataa, yennaa duudii marroo isin maraatiif Waaqa galateeffanna.

³ Waaqa Abbaa keenaa duratti hujii dhugeeffannaa teessanii, jaalalaaf jettanee attam akka dadhaddanee fi addiin isin Goottaa keenaa Yesuus Kiristoositti qaddanu attam jadduu akka teete hin qaabanna.

⁴ Obboleeyyan tiyya, akka Waaqi isin jaalatee isin fooyate hin beenna.

⁵ Oduun Gammadaa ta nuuti isiniif lallanne hunnaan, Ayyaana Woyyichaa fi mirkaneeffata guutu'uun malee, oduu calla'aan gara keessan hin dhunne. Yennaa isin woliin turre, isiniif jennee attam akka leene hin beettan.

⁶ Isin guddoo rakkattanulle, ergaa Ayyaana Woyyicha irraa dhutte gammadaan fudhattanee, nu'uu fi Goottaa keenaa fakkaattaneertan.

⁷ Maarre isin dhugeeffattoota Maqedooniya'aa fi Akaayyaa keessa jirtu duudi'iif fakkeenna teetaneertan.

⁸ Dubbiin Goota'aa ta isin biraa kaate, Maqedooniya'aa fi Akaayya'atti dhage'amu callaa adoo hin te'in, dhugeeffannaan isin Waaqatti qaddanu addee mara dhaqqaddeerti. Tanaaf marroo waan kanaa womaa dubbatiisa nu hin barbaachisu.

⁹ Yennaa nuuti gara keessan dhunne attam akka nu fudhattane, Waaqa jiraata'aa fi dhugicha tajaajiliisaaf, waaqota dharaa irraa deebitanee, gara Waaqaa attam akka deebitane isaanuu hin himan.

¹⁰ Akkasuma isaan Ilma isaa Yesuus, ka ol-gubbaa irraa dhufu, ka inni du'a keessaa kaase, ka mufii Waaqaa ta dhuttu jalaa nu baasu akka eegattanuu hin himan.

2

Hujii Phawuloos Tasalongee Keessatti Huje

¹ Obboleeyyan tiyya, gara keessan dhufiis keenna ka gatii hin qanne akka hin te'in isinuu hin beettan.

² Nuuti gara keessan adoo hin dhufin dura, Filiphisiyuusitti akka rakkannee fi arraffanne hin beettan. Mormiin guddoon nu dhaqqaddulle, Oduu Gammadaa ta isa irraa dhutte akka isiniif hinnu Waaqi keenna jajjabeenna nu'uuf kenne.

³ Nuuti dokonkoraan, yookiin yaada hammeennaatiin, yookiin maltumma'aan isin hin gorsine.

⁴ Waaqi nu addatee, Oduu Gammadaa maganne'een waan nutti kenneef hin dubbanna. Nuuti nama gammachiisiisaaf adoo hin te'in, Waaqa gadhaa keenna qoree ilaalu, gammachiisiisaaf tana goona.

⁵ Dubbii sossobaatiin, yookiin joljolummaa teenna gollannee gara keessan akka hin dhufin miidhassitanee hin beettan! Waan kana Waaqille hin beeka.

⁶ Nuuti isin irraa yookiin worra dhibii irraa, nama tokko irralle'ee galata hin barbaanne.

⁷ Nuuti akka ergantoota Kiristoosiititti waan barbaachisaa te'e isin gaafatuu hin dandeenaaayyu. Ammoo akka haadha daa'ima ifii hoosittee guddittuu, qajeelumma'aan odduu teessan leene.

⁸ Nuuti waan guddoo isin jaalannuuf, Oduu Gammadaa ta Waaqa irraa dhutte callaa adoo hin te'in, jiruu teennalle isiniif qoodiisaaf qophoonneeraayyu. Sababille isin jaalota teenna!

⁹ Obboleeyyan tiyya, attam akka hunyee fi akka dadhanne hin qaabattan. Nuuti isin keessaa nama tokkolle'etti ba'aa akka hin teene, halkanii fi guyyaa hujataa, Oduu Gammadaa isiniif lallanne.

¹⁰ Isin worra dhugeeffattane oddu'utti adabi keenna qulluu, balcha'aa fi ka komii hin qanne akka te'e isin dhugaa baatota; Waaqille nuuf dhugaa baya.

¹¹ Nuuti tokko tokkoo keessan, akka abbaan ijoollee ifii ilaalutti, akka ilaalle hin beettan.

¹² Le'ii Waaqa gara mootummaa ifitii fi ulfinna ifititti isin waame gammachiittu akka leetanu isin gorsaa, jajjabeessaa, magannee isiniin jenneerra.

¹³ Nuuti marroo teessaniif yennaa maraa waan Waaqa galateeffannu qanna. Jecha Waaqaa, ka nuuti isiniif lallanne yennaa dhageettane, akka dubbii namaa adoo hin te'in akka jecha Waaqaatitti fudhattaneertan; jechi kun dhugumaan jecha Waaqaa, kama isin worra dhugeeffattane keessatti hujjisatti jiru.

¹⁴ Obboleeyyan tiyya, isin fakkeenna worra biyya Yihuda'aa, ka Yesuus Kiristoosiin wolde'oota kiristaana Waaqaa te'anee hordottaneertan. Akkuma isaan harka worra Yihudootaatitti rakkatane, isinille harka kolbaa teessaniititti rakkattaneertan.

¹⁵ Worri Yihudootaa Goottaa Yesuusii fi raagota ijjeesanee, nu'ulle miidhane. Isaan Waaqa hin gammachiisanu, nama tokkolle'een wolii hin galanu.

¹⁶ Worra Yihudoota hin te'iniif, jecha isaan fayyisuuyyuu akka hin dubbanne nu dhooggan. Akkasiin yennaa maraa cubbuu ifi irratti fakkanfataa deeman. Amma gara muumme'eetitti mufiin Waaqaa isaan irratti dhut-teerti.

Dharraa Phawuloos Deebi'ee Isaan Ilaaliisaaf Qabu

¹⁷ Obboleeyyan tiyya, gadhaan keenna adoo isin bira jiruu, yennaa diqqo'oof ilaan wol dhagguu dhannee gargar baanulle, waan guddoo isin dharraaneef ila teennaan isin dhaggiisaaf guddoo wodhaanneerra.

¹⁸ Nuuti gara keessan dhufiisaaf barbaanneerraayyu. Keessumattuu ani Phawuloos yennaa hedduu wodhaane; Seexanni ammoo nu kute.

¹⁹ Addiin teenna, gammadi keenna, kallachi ulfinnaa ka nuuti Yennaa Gootaan keenna Yesuus dhufu dura dhaabbannee, ittiin ifi jajnu isin malee eennu ree?

²⁰ Dhugumaan, ulfinnii fi gammadi keenna isin.

3

Ximootewoos Gara Tasalonge'ee Ergame

¹ Maarre kana caalaa ossuu dadhannaan, qofii teenna ollaa Ateena'aatitti hafiisaaf murteeffanne.

² Dhugeeffanna'atti akka isin jabeessuu fi jajjabeessu, obboleessa keenna ka lallabaa Oduu Gammadaa ta Kiristoosii te'ee, nu waliin Waaqaaf tajaajilu Ximootewoos gara keessan ergineerra.

³ Sababa rakkinna kanaatiif nami tokkolle akka hin raafanne tana goone. Rakkinni akkanaa kun ka nu dhaqqabu'uu male akka te'e isinuu hin beettan.

⁴ Isin bira adoo jirruu akka rakkinni nu dhaqqabu dursineetuu hinneerra. Akkuma isin beettanu dhugumaan wonni kun teeteerti.

⁵ Waan kanaaf ani kana caalaa ossuu dadhannaan, Seexanni isin ataabee hujiin teennaalle tola fa'a baddee jiraatti jedhee sodaadhee, dhugeeffannaa teessan beekiisaaf Ximootewoos erge.

⁶ Amma ammoo Ximootewoos isin biraa deebi'ee, marroo dhugeeffanna'aa fi jaalala keessanii oduu nu gammachiittu fidee dhufeera. Akka isin yennaa maraa waan dansa'aan nu yaadattanuu fi akkuma nuuti isin dhaggiisaaf guddoo dharraanu, isinille akka nu dhaggiisaaf dharraatanu inni nutti hime.

⁷ Tanaaf obboleeyyan tiyya, rakkoo fi farra keenna maraa keessatti, sababa dhugeeffannaa teessaniitiif isiniin jajjabaanneerra.

⁸ Sababille Goota'aan jabaattanee yoo dhaabbattane, jiruun teenna haar-effantee leeti.

⁹ Nuuti fuula Waaqa keennaa duratti, gammada marroo teessaniif nutti dhage'ameef Waaqa galateeffanna.

¹⁰ Nuuti ila teennaan isin dhaggiisaa fi waan dhugeeffannaa teessan irraa dhidhatte guutiisaaf halkanii fi guyyaa jabeessinee daadimanna.

¹¹ Amma Waaqi Abbaan keennaa fi Gootaan Yesuus gara keessan akka dhunnu karaa nu'uuf qajeelchu!

¹² Akkuma nuuti isin akka malee jaalannu, jaalaltiin isin wolii fi worra dhibii maraaf qaddanu ittuma dabalantee akka fakkantu Gootaan godhu.

¹³ Guyyaa Gootaan keenna Yesuus woyyoota ifii duudii waliin deebi'ee dhufutti, komii malee woyyumma'aan fuula Waaqa Abbaa keennaa dura akka jiraattanu inni isin jabeessu.

4

Jiruu Waaqa Gammachiittu

¹ Muummee irratti, obboleeyyan tiyya, Waaqa gammachiisiisaaf attam akka leetanu nu irraa barattaneertan. Ammaa tana dhugumaan akka san le'iisatti jirtan; tana caalaalle akka gootanu, maqaa Gootaa Yesuusiitiin isin gaafataa isin gorsina.

² Nuuti baallii Gootaa Yesuusiitiin ajaja isinii kennine hin beettan.

³ Waaqi akka isin sagaagalummaa irraa fagaattanee woyyoontanu fedha.

⁴ Nami duudiin haadha manaa* woyyumma'aa fi ulfinnaan qabatee eegatiisa beekuu ti.

⁵ Akka worra Yihudoota hin te'inii, ka Waaqa hin beennee halchaa foonii badduu hin qabaatin.

⁶ Nami tokkole waan kana irra taree dhugeeffataa dhibii hin yakkin. Akkuma tanaan qara isin ifi eegachiinne, worra waan kana godhu Gootaan hin adaba.

⁷ Waaqi woyyumma'aan akka leenu malee, akka battumma'aan leenuuf nu hin waanne.

⁸ Tanaaf, nami barsiisa kana tuffatu, nama adoo hin te'in, Waaqa Ayyaana Woyyicha ifii isiniif kennu tuffata.

⁹ Marroo wol jaalatiisaa isinuu Waaqa irraa waan barattaneef attam akka wol jaalattanu barreessiisa hin barbaachisu.

¹⁰ Isin dhugumaan dhugeeffattoota biyya Maqedooniya'aa keessa jirtulle duudii jaalattan. Maarre obboleeyyan tiyya, kana caalaalle akka jaalattanu isin gorsina.

¹¹ Akkuma tanaan dura isinitti hinne sirnaan le'iisaaf, haajaa keessan baafatiisaa fi harkuma keessaniin hujatiisa yaada qabaadha'a.

¹² Karaa kanaan worra hin dhugeeffatin biratti ulfinna dhaggattan; waan isiniif barbaachisulle harka namaa irraa hin eegattanu.

Dhufa Goota'aa

¹³ Obboleeyyan tiyya! Akka namoota addii hin qannee akka hin gaddine, marroo worra du'ee dhugaa jirtu akka beettanu barbaanna.

¹⁴ Yesuus du'ee, du'a keessaa akka ka'e hin dhugeeffanna; maarre Waaqi, worra Yesuusitti dhugeeffatee du'e, isa waliin deebisee akka fidu hin dhugeeffanna.

¹⁵ Akka barsiisa Goota'aatitti waan isinitti hinnu qanna: nuuti worri guyyaa Gootaan deebi'ee dhufu adoo hin du'in jirru, worra du'eeru hin dursinu.

¹⁶ Qoonqoo ajaja gudda'aatiin, qoonqoo mootii erganticha Waaqaatiin, qoonqoo tultullaa Waaqaatiin bookarfamee, Gootaanuu ol-gubbaa irraa gadi hin dhufa. Worri Kiristoositti dhugeeffatee du'e, dursee hin ka'a;

¹⁷ achiin duuba nuuti worri adoo hin du'in jirru isaanuma waliin qilleensa irratti Goota'aan wolde'iisaaf duumensa keessa ol butanna. Maarre haga bara baraalle Gootaa waliin leena.

¹⁸ Tanaaf jecha kanaan wol jajjabeessa'a.

* **4:4** Haadha manaa: Nafa ifii **4:17** 1 Qor. 15:51-52

5

Dhufa Gootta'aatiif Qophowa'a

¹ Obboleeyyan tiyya! Marroo baraa fi yennaa wonni kun itti teetuu isiniif barreessuun hin barbaachisu.

² Guyyaan Gootta'aa akka hattuu halkaniin dhuttuu akka dhufu isinuu akka dansaa beettan.

³ Namooti, «Wonni duudiin nageya, qabbana» adoo jedhanuu, akkuma ciniinsuun dubartii ulfaatitti dhuttu, badiin tasa isaanitti dhutti; ijumaa jalaa hin bayanu.

⁴ Obboleeyyan tiyya! Isin ammoo dukkana keessa waan hin jirreef, guyyaan sun akka hattuu isinitti hin dhufu.

⁵ Isin duudiin ijoollee ifaatii fi guyya'aa ti. Nuuti worra halkanii yookiin worra dukkanaatii moti.

⁶ Maarre, dammandhee ifi qabatiisaan hagatti leenuutii malee, akka worra dhibi'ii me rannuu ti.

⁷ Worri rafu halkan rafa; worri machowulle halkan machowa.

⁸ Nuuti ammoo worra guyya'aa waan teeneef, ifi qabannee hagatti leenuu ti; dhugeeffanna'aa fi jaalala akka qomoo sibiilaa, addii fayyinnaalle akka gullee sibiilaa keyannuu ti.

⁹ Waaqi akka nuuti karaa Goottaa keenna Yesuus Kiristoosiitiin fayyinna dhaggannuuf malee, mufi'iif nu hin waanne.

¹⁰ Nuuti jiraannulle yookiin duunulle isa woliin akka jiraannuuf, Kiristoos nu'uuf du'e.

¹¹ Maarre akkuma amma godhiisatti jirtanu, wol jajjabeessaa wol ijaara'a.

Gorsaa fi Nageya Muumme'ee

¹² Obboleeyyan tiyya! Worra odduu teessanitti jabaatee hujaa, karaa Gootta'aatiin isin sooressuu fi gorsu akka ulfeessitanu isin kadhanna.

¹³ Sababa hujii isaan hujanuutiif jaalalaan guddisa'aa isaan ulfeessa'a. Isinille woliif nageya qabaadha'a.

¹⁴ Obboleeyyan tiyya! Worra hujii jibbu akka xixxanu, worra yaraa akka jajjabeessitanu, worra dadhabaa akka qarqaartanu, nama maraaf akka ossattanu isin gorsina.

¹⁵ Yennaa duudii wolii keessanii fi namoota duudi'iif dansaa godhiisaaf yaadadha'a malee, nami tokkolle waan hantu'uuf hantuu akka hin deebinne ilaalladha'a.

¹⁶ Yennaa mara gammada'a;

¹⁷ yennaa mara daadimadha'a;

¹⁸ waan maraa keessatti Waaqa galateeffadha'a. Jiruu isin Yesuus Kiristoosiin qaddanu keessatti wonni Waaqi isin irraa barbaadu kana.

¹⁹ Ayyaana Woyyicha hin ukkaansina'a;

²⁰ jecha raagaa hin tuffatina'a;

²¹ ammoo waan maraa qorqora'aa ilaala'a; waan dansaa qabadha'a;

²² waan hantuu duudii irraa fagaadha'a.

²³ Waaqi Abbaan nageyaatuu, guutumatti isin woyyoonsu; ayyaanni keessan, lubbuun teessanii fi nafi keessan duudiin komii malee, guyyaa dhufa Goottaa keenna Yesuus Kiristoosiitiif eegamu.

²⁴ Ka isin waame addatamaa waan te'eef, inninuu tana hin godha.

²⁵ Obboleeyyan tiyya! Nu'uufille daadimadha'a.

²⁶ Sunqata woyyichaan dhugeeffattoota duudii nageya fuudha'a.

²⁷ Ergaa tana akka dhugeeffattoota duudi'iif dubbittanu maqaa Gootta'aatiin maganne'e isiniin jedha.

²⁸ Badhaadhi Goottaa keenna Yesuus Kiristoosii isin woliin jiraatu.

Ergaa Phawuloos Gara Worra Tasalonge'ee Erge Ta Lammeesso'oo Seensa

Gaaffin marroo deebi'ee dhufiisa Kiristoosiitiif kaate, wol dhaba waan kaatteef rakkoon wolde'a kiristaana Tasalongee keessa jirtuu o'ite. Ergaan Phawuloos gara worra Tasalonge'ee barreesse ta lammeesso'oo, «Guyyaan dhufa Goota'aa dhiyaateera» addii jettu irratti xiyyeeffatti. Phawuloos dhufa Kiristoosiitiin dura sooreessisa mormitoota Kiristoosiitiin ka, «Nama jallu'uu» jedhamuun, biyya lafaa irratti hammeennaa fi jalluun fakkanaa deenti jedhaa, dhugeeffannaa isaanii sirreessu'uuf wodhaana.

Worri dubbii tana dubbisu, rakko'oo fi farri yoo itti fakkanelle dhugeeffannaa ifitiin jabaatee, innii fi worri hujii isaa qarqaaru akkuma godhanu, waan jireenna isaaniitiif barbaachisu dhaggatiisaaf jabaatanee akka hujanu, akkasuma hujii dansaa hujiisa irraa akka ifi hin qusanne jabeesse isaan gorsa.

Haadhoo Dubbi'ii

Seensa1:1-2

Galataa fi Leellisa1:3-12

Gorsa marroo deebi'ee dhufiisa Kiristoosii2:1-17

Gorsa marroo adaba kiristaanaatiif kenname3:1-15

Yaada buufataa3:16-18

¹ Phawuloos, Siilaasii fi Ximootewoos biraa:

Wolde'a kiristaanaa ka Waaqa Abbaa keennaatii fi Gootaa keenna Yesuus Kiristoosii teetane, ka Tasalongee keessa jirtanuuf:

² Waaqi Abbaan keennaa fi Gootaan Yesuus Kiristoos nageyaa fi badhaadha isiniif kennu.

Muraa Yennaa Kiristoos Deebi'ee Dhufu Kennantu

³ Obboleeyyan tiyya! Nuuti marroo teessaniif yennaa mara Waaqa gala-teeffatiisa qanna. Dhugeeffannaan teessan akka malee guddataa, jaalaltiin isin waliif qaddanulle ittuma waan dabalamiisatti jirtuuf, akkas tolchuun keenna sirri'i.

⁴ Tanaaf miidha'aa fi rakkoo isin dhaqqadde duudii keessatti waan os-sattanee fi dhugeeffanna'aan jabaattaneef, nuuti wolde'oota kiristaanaa, ka Waaqaa keessatti isiniin ifi jajanna.

⁵ Wonni kun maraa, muraan Waaqaa qajeeltu akka teetee fi isinille mootummaa Waaqaa ta rakkatiisatti jirtanuuf, ka maltane akka te'uuf jirtanu mirkaneessa.

⁶ Waaqi waan sirrii te'e huja; inni worra isin rakkisutti rakkoo fida.

⁷ Isin worra amma rakkatiisatti jirtanu, Yesuus ergantoota ifii hunnaameyyii waliin ol-gubbaa irraa yennaa mudhatu nu waliin tana jalaa isin baasa.

⁸ Inni ibidda bobe'uun mudhata; gaafa san worra Waaqa hin beennee fi Oduu Gammadaa ta Gootaa keenna Yesuusiiitiif hin ajajane hin adaba.

⁹ Isaan fuula Goota'aatii fi ulfinna hunna isaa irraa gargar bayanee, badii bara baraatiin adabaman;

¹⁰ tun guyyaa inni wooyyoota ifii irraa ulfinna dhaggatiisaa fi worra dhugeeffatu duudii biralle'etti baaseffatamiisaaf dhufutti teeti. Isinille dhugaa baya teenna waan dhugeeffattaneef, wooyyoota isaa waliin laakkowantan.

¹¹ Waaqi keenna worra waamicha isaatiif male akka isin godhuuf, waan dansaa godhiisaaf halchaa qaddanuu fi hujii dhugeeffannaa teessanii mara hunna ifitiin akka muummessuuf, nuuti yennaa mara isiniif daadimanna.

¹² Akkasuma maqaan Gootaa keenna Yesuus Kiristoosii isiniin akka ulfaatuu fi isinille karaa badhaadha Waaqa keenfaatii fi Gootaa keenna Yesuus Kiristoosiitiin, akka isaan ulfaattanuuf daadimanna.

2

Nama Jallu'uu

¹ Obboleeyyan tiyya! Marroo dhufa Gootaa keenna Yesuus Kiristoosiitii fi marroo isa woliin wolitti qabamiisa keennaa akka beettanuuf, waan isin kadhannu qanna:

² raagaan yookiin jechaan akka himametti, yookiin akka ergaa nu'u irraa isiniif barreeffantee gootanee «Guyyaan Goota'aa dhiyaateera» jedhaa dattanee yaadaan hin raafamina'a, yookiin hin rifatina'a.

³ Finqilli adoo hin ka'in dura jallichi ilmi badi'iille adoo hin mudhatin guyyaan sun waan hin dhunneef, nami tokkolle karaa kamiinuu isin hin wollaalchisin.

⁴ Inni waan waaqa jedhamanu yookiin waaqonfatanu caalaa ifi ol qaba; ifille'een, «Ani Waaqa» jedhaa Galma Waaqaa keessa ifi teessisa.

⁵ Ani yennaa isin woliin jiru waan kana duudii akka isinitti hime hin qaabattanu?

⁶ Yennuma isaatitti akka inni mudhatuuf amma waan isa dhooggu isinuu hin beettan.

⁷ Hunni dhossa'aa ta jallu'uu ammumaa hujiisatti jirti; ammoo wonni amma isa dhooggu haga karaa irraa kaatutti wonni sila te'uu malte hin teetu.

⁸ Achiin duuba jallaamessi sun hin mudhata; Gootaan Yesuus hafuura afaan ifitiin isa ijjeesee, ulfinna deebi'ee dhufiisa ifitiin isa balleessa.

⁹ Jallaamessi sun hunna Seexanaatiin bilbaasota, beessisaa fi baasota dharaa duudii hujaa dhufa.

¹⁰ Akkasuma isaan waan hantuu mara hujiisaan worra badu gowwoon-san. Isaan dhugaa isaan fayyittu jaalatane fudhatuu waan didaneef badan.

¹¹ Tanaaf waan dhugaa hin te'in akka dhugeeffatanuuf, Waaqi hunna isaan wollaalchittu isaanitti erga.

¹² Worra hantu'utti gammadee dhuga'atti hin dhugeeffanne duudi'itti akka murantuuf, wonni kun teete.

Isin Fayyinnaaf Fooyantane

¹³ Obboleeyyan Goota'aan jaalatantane, Ayyaanaan kolbaa woyyittii isaa teetanee, dhuga'atti dhugeeffatiisaan akka fayyitanuuf Waaqi worra jalqabaa godhee waan isin fooyateef, yennaa maraa marroo teessaniif, nuuti Waaqa galateeffatiisa qanna.

¹⁴ Ulfina Gootaa keenna Yesuus Kiristoosii akka dhaggattanuuf, karaa Oduu Gammadaa ta nuuti lallannuutiin Waaqi isin waameera.

¹⁵ Yoona obboleeyyan teenna, jabaadha'aa dhaabbadha'a; barsiisa jecha afaaniitiin yookiin ergaa barreeffamaan nu biraa isiniif ergantelle jabeessa'aa qabadha'a.

¹⁶ Amma Gootaan keenna Yesuus Kiristoosii fi Waaqi Abbaan keenna ka nu jaalatee, badhaadha ifitiin jajjabeenna bara baraatii fi addii jadduu nu'uuf kenne,

¹⁷ waan dansaa mara akka gootanu fi akka dubbattanu gadhaa keessan jajjabeessee, isin jabeessa.

3

Nu'uuf Daadimadha'a

¹ Muummeffata irratti, obboleeyyan teenna! Jechi Goota'aa wodhakkaa teessanitti akkuma te'e, ariifatee akka badhatuu fi ulfaatu nu'uuf daadimadha'a.

² Ammalle worri hedduun dhugeeffannaa waan hin qanneef, harka namoota yakkaameyyi'iitii fi dabaaleyyi'ii irraa akka inni nu baasu nu'uuf daadimadha'a.

³ Gootaan ammoo addatama'a; inni isin jajjabeessee, waan hantuu irraa isin eega.

⁴ Waan isinitti hinne akka hujaartanu fi gara duraalle ittuma akka hujjanu Goota'atti addii qanna.

⁵ Gootaan gadhaa keessan gara jaalala Waaqaatii fi gara ciniinnatee ossiisa Kiristoosii isin qajeelchuu ti.

Harka Maratanee Tee'iis Barbaachisa'aa Moti

⁶ Obboleeyyan teenna! Kiristaana harka maratee tee'uu fi akka barsiisa nu'u irraa fudhatetti hin leene irraa akka fagaattanu, maqaa Gootaa Yesuus Kiristoosiitiin isin ajanya.

⁷ Nuuti yennaa isin bira turre harka marannee hin teenne. Fakkeenna keenna fudhatiisa akka maltane isinuu miidhaassitanee hin beettan.

⁸ Nuuti nama tokkolle'etti ba'aa akka hin teene, halkanii fi guyyaa eloonnee hunye malee, sagalee nama tokkoolle akkasumaan hin nyaanne.

⁹ Wonni nuuti tana gooneef fakkeenna keenna akka fudhattanuuf malee, waan nu'uuf barbaachisu isin irraa dhaggatiisaaf baallii dhanneetii moti.

¹⁰ Nuuti yennaa isin bira jirru, «Nami hujjiisa jibbu hin nyaatin» jennee ajaja isiniif kennineerra.

¹¹ Isin keessa worri gariin ka harka maratee tee'u akka jiru waan dhageenneef tana jenna; isaan waan isaan hin galchine keessa galan malee, hujii tokkolle hin hujjanu.

¹² Namooti akkasii, miiranee akka hujatanuu fi waan ittiin bulanu akka dhaggatanu maqaa Gootaa Yesuusitiin isaan ajanya; hin gorisinalle'e.

¹³ Obboleeyyan tiyya! Isin ammoo waan dansaa hujjiisa hin dadhabina'a.

¹⁴ Ergaa nuuti xalayaa kana keessatti isiniif ergineef, nami hin ajajanne yoo jiraate, hubadha'aa beeka'a; akka inni qaanowuufille waan tokkolle isa waliin hin tolchina'a.

¹⁵ Teetuu malee akka obboleessaatitti itti gorsa'a malee, akka diinaatitti hin laakkowina'a.

Nageya Muumme'ee

¹⁶ Gootaan abbaan nageyaa, yennaa mara karaa maraan, inninuu nageya isiniif kennuu ti. Gootaan isin mara waliin jiraatu.

¹⁷ Ani Phawuloos harkuma kiyyaan nageya kana barreesse. Beessisi ergaa tiyya mara keessatti dhaggamu kana; akki ani barreessulle akkana.

¹⁸ Badhaadhi Gootaa keenna Yesuus Kiristoosii isin mara waliin jiraatu.

Ergaa Phawuloos Gara Ximootewoosii Erge Ta Qaraa Seensa

Dargaggeessi Kiristaanichi ka Ximootewoos jedhamu, dhalootaan nama Asiyaa diqqa'aa ti; haati isaa nama gosa Yihudi'ii yoo teetu, abbaan isaa ammoo nama gosa Giriikiiti. Inni hujii ergaa Oduu gammadaatiin waa'elaa fi qarqaaraa Phawuloosii te'eera. Ergaan Phawuloos Ximootewoosiif barreesse ta qaraa, yaada gugurdaa sad irratti xiyyeeffatti. Waan duudi'in qara ergaan isaa tun barsiisa dharaa ka wolde'a kiristaanaa keessatti ka'e irraa ta ifi eeggachiittu. Barsiisi haarenni kun gamis yaada Yihudootaa, kuun yaada worra Yihudoota hin te'inii yoo te'u, «Biyyi lafaa cubbu'uun ta badde waan teeteef, fayyinni ka dhaggamu beekkumsa dhossa'aa ka adda te'een, sagalee gari'ii fi fuudhaa heeruma irraa ifi eegu'uun» yaada jedhu irratti ka hundayeeru. Ammalle ergaan tun marroo bulchiinsaa fi qajeelcha sirna waqonfata wolde'a kiristaanaa, akkasuma adaba sooreyyi'ii fi qarqaartoleen wolde'a kiristaanaa qabaatiisaaf maltelle ta qaddu. Muummee irratti Ximootewoos tajaajilaa dansaa Yesuus Kiristoosii attam akka te'uu dande'uu fi wolde'a adda addaa irratti baallii qabu irratti gorsa isaa kenne dhaggina.

Haadhoo Dubbi'ii

Seensa1:1-2

Qajeelcha wolde'a Kiristaanaatii fi tajaajiltootaaf kenname1:3—3:16

Qajeelcha marroo hujii Ximootewoosiitiif kenname4:1—6:21

¹ Ana Phawuloosii, ajaja Waaqa fayyisaa keennaatii fi Yesuus Kiristoosii addii teenna te'eetiin, ergamaa Yesuus Kiristoosii te'e irraa,

² Ximootewoosii dhugeeffanna'aan ilma dhuga'aa kiyya ite'e:

Badhaadhi, mararti'ii fi nageenni Waaqa Abba'aatii fi Goottaa keenna Kiristoosii siif te'u.

Barsiisa Sobaa Irraa Ifi Eeggachiisuu

³ Yennaa gara Maqedooniya'aa dhaqu'uuf ka'e akkuma sitti hime kaan, worra garii ka barsiisa sobaa achitti barsiisu, biyya Efesoonii keessa teettee akka isaan dhooggitu fedha.

⁴ Oduu duriitii fi laakkossa sanyii abbootii'ii ka dhuma hin qanne, akka lakkisanu isaanitti himi. Wonni isaan godhanu kun moromaa callaa kaatti malee, hujii Waaqaa ta dhugeeffanna'aan hujantuuf ta teetuu moti.

⁵ Yaadi ajaja kanaa ammoo jaalala gadhaa qulluu irraa, wodanaa dansa'aa fi dhugeeffannaa dhuga'aa irraa ka ka'e.

⁶ Worri gariin kana irraa deebi'anee gara dubbii bu'aa hin qannee deebi'aneeran.

⁷ Isaan barsiisota seera Waaqaa te'iisaaf barbaadan, ammoo waan dubbatanuuyyuu yookiin waan guutanee beenna jedhanuuyyuu hin hubatanu.

⁸ Nami akka dansaa ittiin yoo huje seerri dansaa akka te'e hin beenna.

⁹ Akkasuma seerri worra balchootaaf akka hin tumamin hin beenna; seerri worra seera balleessuuf, yakkaameyyi'iif, worra Waaqa malee jiraatanuuf, worra cubbaaleyyi'iif, worra woyyummaa hin qanneef, worra

dhugeeffannaa hin qanne, worra abbaa yookiin haadha ijjeesuuf, ijeettu'uuf,

¹⁰ sagaagaltootaaf, dhiira wol bukkoonsituuf*, worra nama butee gurguruuf, worra nama sobuuf, worra dharaan kakatuu fi worra waan barsiisa sirrii te'een masaanuu te'u mara godhuuf tumame.

¹¹ Barsiisi sirrii te'e ammoo Wongeela ulfaataa Waaqa galateeffama'aa, ka ani lallabuuf inni natti kenne keessatti dhaggama.

Phawuloos Waaqa Galateeffate

¹² Ani Goottaa keenna Yesuus Kiristoos, ka addatamaa godhee na laakkowee tajaajila ifiitiif muudee na jabeesse hin galateeffadha.

¹³ Ani tanaan qara isa faanshessaa, miidhaa irratti geessisaa nama hunnaan isatti ka'u te'ulle, dhugeeffannaa dhabaa fi wollaalchaan tana waan godheef marartii dhaggadheera.

¹⁴ Dhugeeffanna'aa fi jaalaltii Yesuus Kiristoosiin dhaggantu woliin badhaadhi guddaan Goottaa keennaa naaf dhangala'eera.

¹⁵ Dubbiin, «Kiristoos Yesuus cubbaaleyyii fayyisiisaaf gara biyya lafaa dhufe» jettu dhugitti'ii fi guutuma guutu'utti ta fudhatamuu malte. Cubbaaleyyii san keessaalle'ee, cubbaaleessi sara tare ana.

¹⁶ Teetu malee, Yesuus Kiristoos worra cubbaaleyyii keessaa, na cubbaaleessa sara tareef ossa ifii ka haga hin qanne mudhisiisaaf, worra isatti dhugeeffatu'uu jiruu fi worra jiruu bara baraa dhaggatu'uu jiruuf, fakkeenaa akka te'uuf marartii isaa dhaggadheera.

¹⁷ Amma mootii bara baraa, ka hin duunee fi ka ilatti hin mudhanne, Waaqa tokkochuma saniif, baruma baraan guddinnii fi ulfinni isaaf te'u! Ameen.

¹⁸ Ilma kiyya, Ximootewoos, tanaan qara waan keetiif dubbiin raagaa akkuma dubbatte, isii tanaan miidhassitee akka loltuuf ajaja kana magannee sitti kenna.

¹⁹ Dhugeeffanna'aa fi wodanaa dansaa qabaadhu. Worri gariin wodanaa ifii tuffatiisaan, akkuma hoboloon guddittiin danbali'iin baddu dhugeeffannaa ifii balleessaneeran.

²⁰ Himnewoosii fi Iskindir fa'alle, jara san keessa jiran; ani akka isaan Waaqa faanshessuu dhiisuu baratanu adaba hunna Seexanaatitti dabarsee isaan kenneera.

2

Waaqonfannaa Wolde'a Kiristaanaa

¹ Amma waan duudi'iin dura, iyyannoon, daadimannaan, worra dhibi'iif daadimatu'uu fi galata dhikeessuun Waaqa duratti nama duudi'iif akka godhamuuf gorsa.

² Nageyaa fi sarmiisaan*, Waaqa soda'aa fi adaba dansa'aan akka leenu, moototaa fi worra baallii ol aantuu qabu duudi'iif daadimadha'a.

³ Daadimati akkasii Waaqa fayyisaa keenna duratti dansa'aa fi ka fudhatama qabu.

⁴ Inni nami duudiin akka fayyuu fi dhugaa akka beeku barbaada.

⁵ Waaqi tokkocha; wodhakkaa jiraatee Waaqaa fi nama ka wolitti araarsu tokkocha; inni nama te'ee ka mudhate Yesuus Kiristoos.

⁶ Ka sanyii namaa duudii wodiisaaf mataa ifii dabarsee kenne isa; isiin tunille yennaa itti te'uu maltetti mirkanootte.

* **1:10** Bukkoonsituuf: Dabeessituuf yookiin gootuuf Sirnyaan

1:13 HuE. 8:3; 9:4-5

* **2:2** Sarmiisaan:

⁷ Maarre anille sababa kanaaf dhugeeffanna'aa fi dhugaa lallabiisaaf ergama'aa fi barsiisaa te'ee, gara worra Yihudoota hin te'inii ergame. Ani dhugaa dubbatiisatti jira malee hin sobu.

⁸ Worri dhiiraa addee maratti aari'ii fi moromaa malee, yaada qullu'uun harka isaanii ka woyyoomme ol kaasanee akka daadimatanu barbaada.

⁹ Dubartootille mataa shoobaa dhowattee, yookiin worqi'iin yookiin dooqaan seefatiisa, yookiin woyaa gatii guddo'oo uffatiisa adoo hin te'in, ifi qabattee woyaa isi'iif malte akka uffattu barbaada.

¹⁰ Dubartooti Waaqa waaqonfanna jettu akka godhuu maltetti hujii dansa'aan ifi seefattuuti.

¹¹ Dubartiin cadheessaa fi ajajamaan barattuu ti.

¹² Isiin akka barsiittu yookiin dhiira irratti baallii akka qabaattu ani hin eeyyamu; isiin cadhisuu qaddi.

¹³ Sababille Addaam matooma dadamee, Heewwan ammoo achiin duuba dadante.

¹⁴ Ka sobamelle Addaamii moti; sobantee seera Waaqaa ta cassite dubar-titti'i.

¹⁵ Teetuu malee dubartiin dhugeeffanna'aa fi jaalalaan, woyyumma'aan ifi qabattee yoo jabaatte ilmee deyiisaan hin fayyiti.

3

Ulaagaa Sooreyyii Wolde'a Kiristaanaa

¹ Nami tokko soressaa* Wolde'a kiristaanaa te'iisaaf yoo barbaade, hujii kabajantuu halcha jechi jedhu dhuga'a.

² Soorressaan wolde'a kiristaanaa nama komii hin qanne, nama niitii takkattii gofa qabu, nama hagatti le'u, nama ifi qabatu, nama kabajjaa qabu, nama keessummaa fudhatu, nama barsiisuu dande'u,

³ nama hin machoonne, nama hunnaan hin lolle, nama qajeelaa, nama moromaa hin jaalanne, nama beesee hin jaalanne,

⁴ nama maatii ifii sirri'itti bulfatu, nama ijoolleen ulfinnaan isaaf ajajantu te'uu qaba.

⁵ Nami tokko maatii ifii bulfatiisa yoo hin dandeenne, attam dande'ee wolde'a kiristaanaa ka Waaqaa bulchiisaaf dande'a ree?

⁶ Kijibaana afuufamee, mura tanaan gara Seexanatti muranteetti akka hin jinne, nama dhikoo dhugeeffate hin te'in.

⁷ Maqaa isaa badee tiyyoo Seexanaa keessatti akka hin jinne, nama alaa biratti gurra dansaa qabaachuu qaba.

Ulaagaa Qarqaartota Wolde'a Kiristaanaa

⁸ Akkasuma qarqaartoti† wolde'a kiristaanaalle worra ulfinna qabu malee, worra arraba lama dubbatu, worra unii fakkansu, worra qarshi'iif joljolu te'uu hin qabanu;

⁹ wodanaa qullu'uun dhossaa dhugeeffannaa dhuga'aa jabeessanee qabatuu qaban.

¹⁰ Isaan dursanee ilaallatamanuu ti; achiin duuba ka komii hin qanne yoo te'ane qarqaartota wolde'a kiristaanaa te'anee tajaajilanuu ti.

¹¹ Akkasuma niitoti qarqaartotaalle ta kabajjaa qaddu, ta hin hamanne, ta hagatti leetu, ta waan maraan addatantu te'uu qaddi.

¹² Qarqaartichi wolde'a Kiristaanaa tokko ka niitii takkaa gofa qabu te'ee, ijoolle'ee fi maatii ifi akka dansaa ka bulfatu te'uu qaba.

¹³ Qarqaartoti wolde'a kiristaanaa, worri hujii dansaa hujanu ulfinna guddaa dhaggatanee, marroo dhugeeffannaa ifii ta Yesuus Kiristoositti qabanuun jabeenna guddaa dhaggatan.

Dhossaa Guddoo Dhugeeffanna'aa

¹⁴ Ani dafee gara keeti akka dhufu addii qaba, haga sanitti ammoo gorsa kana si'iif barreessaara.

¹⁵ Ammoo yoo ani ture, mana worra Waaqaa keessatti nami amala attamii qabaachuu akka male akka beettuufkun si gargaara; manni kunille utuba'aa fi hundee dhugaa wolde'a kiristaanaa ka Waaqa jiraata'aa ti.

¹⁶ Dhossaan dhugeeffannaa teennaa mama tokko malee guddo'oo; tanaaf, «Inni foon uffatee mudhateera;

dhugaa akka te'e Ayyaanaan mirkaneeffameera.

Ergantoota Waaqaatitti mudhateera;

kolbaa biyya lafaatiif lallabameera.

Biyya lafaa duudi'itti dhugeeffatameera;

ulfinnaan gara ol-gubba'aa fudhatameera» jedhamee himameera.

4

Barsiisota Dharaa

¹ Bara duubaatitti namooti gariin, ayyaanota wollaalchisa'aa fi barsiisa durriisotaa hordofiisaan dhugeeffannaa irraa akka dacha'anu Ayyaanni Waaqaa gulleessee hima.

² Barsiisi akkasii kijiboota dhara dubbatiisaan wodanaan isaanii akka sibiila o'aan gubamee dillaye irraa dhufa.

³ Worri kun «Fuudhaa fi heeruma, sagalee akkasiitii fi akkasii nyaatuun dhoogga'a» jedhan. Waaqi ammoo, sagalee tana akka nyaatanuuf dade; worri dhugeeffatuu fi worri dhugaa beekiisaaf dhufe daadimata galataatiin nyaata.

⁴ Wonni Waaqi dade duudiin dansa'a; wonni daadimata galataatiin fudhatante takkaalle hin jibbatantu,

⁵ isiin sababa jecha Waaqaatii fi daadimataatiif Waaqa biratti fudhatama dhaggatti.

Tajaajilaa Dansaa Yesuus Kiristoosii

⁶ Barsiisa kana dhugeeffattoota yoo barsiitte, jecha dhugeeffanna'aatii fi barsiisa dhuga'aa ka hordotte saniin guddataa, tajaajilaa dansaa Yesuus Kiristoosii hin teeta.

⁷ Oduu durii ta beera dulloontee, ta gatii hin qanne hin fudhatin. Addee san leetoo Waaqi fedhuu le'iisaaf ifi leenjisi.

⁸ Nafa jajjabeessu'uuf ifi leenjisuun bu'aa diqqoo qaba; leetoo Waaqi fedhu le'iisaaf ifi leenjisuun ammoo, le'ii ammaatii fi ta dhuttulle'eef addii waan qabuuf karaa maraan bu'aa qaba.

⁹ Jechi kun jecha dhugicha guutuma guutu'utti fudhatamu'uu male.

¹⁰ Nuuti Waaqa jiraataa fayyisaa nama duudi'ii, keessattuu ka worra isatti dhugeeffatuu te'etti waan addannuuf hujii'iin dadhabaa farralle dhaggina.

¹¹ Tana duudii isaan ajajii barsiisi.

¹² Dubbii afaan keeti keessaa baatuun, haasowaan, le'iin, jaalalaan, dhugeeffanna'aa fi qulqullumma'aan dhugeeffattootaaf fakkeenaa te'i malee, dargaggeessa waan teeteef eennulle si hin tuffatin.

¹³ Haga ani dhufutti, Barreeffama Woyyicha kolba'aaf dubbisiisa, lallabiisaa fi barsiisiisatti jabaadhu.

¹⁴ Kennansa yennaa raagoti dubbattee fi jaarsoleen wolde'a kiristaanaa harka ifii si irra keette si'iif kenname, kennansa Ayyaanaa ka si keessa jiru san hin dagatin.

¹⁵ Akka nami duudiin guddinna keeti dhaggu waan kana ifi kennii huji.

¹⁶ Ati mataa keetii fi barsiisa keeti midhassii ilaalladhu, waan kana itti jabaadhu; akkas godhiisaan mataa keetii fi worra si dhage'u hin fayyitta.

5

Akka Dhugeeffattoota Itti Qabatanu

¹ Jaarsa akka abba'aatitti gorsi malee hin xixin; dargaggageeyyii dhiiraa ammoo akka obboleeyyaniititti qabadhu;

² jaartii akka haadhaatitti, dubartii ka'ima akka obboleettii tiru'uu yaada qullu'uun qabadhu.

³ Dubartii dhugumaan haadha hiyyeessaa teete kabaji.

⁴ Isiin ijoollee yookiin akkoowwan yoo qabaatte ammoo, ijoolleen sun duraan dursitee maatii ifii qarqaaraa, haadhaa fi abba'aaf, akko'oo fi akaakoo ifiitille'eef haluu guddisaa isaaniif deebisaa, dhugeeffannaa ifii huji'iin mudhisiisa baratanuu ti. Sababille wonni kun Waaqa hin gammachiitti.

⁵ Haati hiyyeessaa takka, ta nama isii qarqaaru hin qanne, addii ifii Waaqatti godhatee halkanii fi guyyaa qarqaarsa isaa gaafataa daadimataa leeti.

⁶ Haati hiyyeessaa takka ta gammada lafaa callaa jaalattu, aduma jirtuu duuteerti.

⁷ Nami tokkole waan ittiin isaan komatu akka hin qabaanne, gorsa kana isaaniif kenni.

⁸ Nami tokko fira ifitiif, keessattuu maatii ifitii ka hin qarqaarre, nama dhugeeffannaa ifii mormate; inni nama hin dhugeeffatin caalaalle hama'a.

⁹ Haadha hiyyeessaa ta woggaan isi'ii jaatamaa gadi te'e, galmee haadhotiin hiyyeessaa itti galmeeffantutti hin galmeessin. Isiin sunuu ta dhirsaa tokko qofa heerumteertu te'uu qaddi.

¹⁰ Akkasuma ijoollee guddisiisaan, keessummaa fudhatiisaan, miila kolbaa Waaqaa dhiqiisaan, worra rakkate qarqaariisaan, hujii dansaa mara huiisaa fi ifi kenniisaan ta gurra dansaa qaddu te'uu qaddi.

¹¹ Haadhotii hiyyeessaa ta ka'ima teete ammoo, galmee san keessa hin galchin; sababille halchaan foonii yennaa itti hammaatte, Kiristoos irraa deebi'anee heerumuu barbaaddan.

¹² Maarre isaan waadaa Kiristoosiif matooma galane diigane mura ifi irratti fidatan.

¹³ Ammalle isaan hujii malee tee'uu fi mana kanaa kaan labiisa baratan; tana qofa adoo hin te'in, nama hamataa dubbii namaa keessa galaa, waan dubbatu'uu hin malle ka dubbatanu te'an.

¹⁴ Tanaaf diinni hantuu nu'u irratti dubbatuuf karaa akka hin dhagganne, haati hiyyeessaa ka'intittiin heerumtee ijoollee deetee, mana ifii akka bulfattu gorsa.

¹⁵ Isaan keessaa gariin tanaan qaraa Seexana hordofiisaaf karaa dhugeeffanna'aa irraa goraneeran.

¹⁶ Dubartiin dhugeeffatte takka ammoo, haadha hiyyeessaa maatii ifii keessaa yoo qabaatte, akka isaan wolde'a Kiristaanaatitti ba'aa hin teene qarqaartuuti; wolde'i Kiristaanaa ammoo, dubartoota abbaan manaa irraa du'e, ta ijjumaa qarqaarsa hin qanne qarqaaru ti.

¹⁷ Jaarsolee wolde'a kiristaanaa akka dansaa sooressitu, keessumattuu ta jabaattee lalladdee barsiittuuf, ulfinna gudda'atti male.

¹⁸ Barreeffam Woyyichi, «Qotiyyoo midhaan dhowiisatti jirtu afaan hin hidhin», akkasuma, «Hojjata'aaf mindaan kennamuu qaba» jedha.

¹⁹ Dhugaa baatota lama yookiin sad yoo qabaate malee, himata jaarsa tokko irratti dhiyaatu hin fudhatin.

²⁰ Worri dhibiin akka sodaatu, worra cubbuu huju addee nami mara jirutti xixi.

²¹ Waan gootu mara namuufuu adoo hin golin, yookiin adoo wol hin caalchisin gorsa kiyya akka muummessitu Waaqa duratti, Yesuus Kiristoosii fi ergantoota Waaqaa ta fooyante duratti si ajaja.

²² Namoota tajaajila Waaqaatiif muudiisaaf ariifattee harka irra hin keyin. Cubbuu worra dhibi'ii keessa hin galin; mataa keeti qulqullumma'aan eegi.

²³ Gadhaa keetii fi dhibee deddeebitee sitti kaatuuf, daadhii woyni'ii diqqoo uni malee hagara achi bisaan callaa hin unin.

²⁴ Cubbuun worra gari'ii ifa teete waan mudhattuuf, dursitee mura'aa isaanii akeetti; cubbuun worra gari'ii ammoo duuba irra mudhatti.

²⁵ Akkasuma hujiin dansaan ifa teetee mudhatti, ta hin mudhannelle dhokatte hin hattu.

6

¹ Worri waanjoo* garbumma'aa jala jiru maqaan Waaqaatii fi barsiisi keenaa akka hin arraffanne, goottoti isaanii ulfinna guutuu akka dhaggatiisaaf malanetti laakkowanuu ti.

² Garbooleen goottoti isaanii dhugeeffattoota te'ane, lamaanuu woliif Gootta'aan obboleeyyan waan te'aneef, goottota ifii tuffatiisa hin qabanu. Addee san, goottoti isaanii dhugeeffattootaa fi jaalota tajaajila isaanii irraa ka bu'aa dhaggatanu waan te'aneef, ta durii caalaa isaan tajaajilanuu ti. Tana barsiisii gorsi.

Barsiisa Sobaatii Fi Durummaa Dhuga'aa

³ Nami barsiisa sobaa barsiisaa, jecha sirrii te'e ka Goottaa keenaa Yesuus Kiristoosiitii fi ka ittiin Waaqa waaqonfatanuun woliif hin galle yoo jiraate,

⁴ nami akkasii nama kooraan ifi bokossee womaa hin beenne. Inni jechoota irratti moroma'aa fi lolaaf fedha hamaa ifi keessaa qaba. Wonni kun ammoo hinaaffaa, wol dhaba, arrabaa fi mama badaa fiddi.

⁵ Wol mormiin worra qalbii hin qanne irraa dhutti, isaan dhugaan waan irraa fudhatanteef dhugeeffannaa karaa karra dhaggatiisaa seyan.

⁶ Dhugeeffannaan, nama waan qabuun dande'ee le'u biratti bu'aa guddaa qaddi.

⁷ Nuuti waan tokkole finnee gara biyya lafaa hin dhunne; waan tokkole isii keessaa fuunee deemiisa hin dandeenu.

⁸ Ammoo woya'aa fi sagalee yoo qabaanne sun nu hin geetti.

⁹ Worri durummaa barbaadu ataabe'etti jigee, tiyyoo gowwummaa heddu'uutii fi halchaa isaan miituutiin, ta isaan balleessituu fi dhidhinsituun qabaman.

¹⁰ Sababille beese jaalatuun hidda hammeenna duudi'ii ti. Worri gariin durummaa dhaggatuu halchee, dhugeeffannaa irraa badee qalbii ifi gaddaan laalesseera.

Gorsa Phawuloos Ximootewoosiif Kenne

¹¹ Ati nami Waaqaa ammoo, waan kana duudii irraa fagaadhu; balchummaa, akka nama Waaqaa le'uu, dhugeeffannaa, jaalala, ciniinnatanee ossu'uu fi qajeelummaa hordof.

¹² Lola dansaa dhugeeffanna'aa loli. Jiruu bara baraa ta yennaa gara isaa waammante dhugaa baatota hedduu duratti dhugaa baate qabadhu.

¹³ Fuula Waaqa waan duudi'iif jiruu kennuutii fi Yesuus Kiristoosii Phonx-oos Philaaxoos duratti dhugeeffannaa ifitiif akka dansaa dhugaa baye duratti si ajaja.

¹⁴ Haga guyyaa Gootaan keenna Yesuus Kiristoos deebi'ee mudhatuutitti ajaja kana balleessa'aa fi komii malee eegadhu.

¹⁵ Waaqi eebbifama'aa fi qofuu Bulchaa te'e, Mootichi moototaa, Gootaan goottotaa guyyaa ifii murteessetti mudhiin Kiristoosii teeti.

¹⁶ Ka hin duune isa qofa; inni ifa eennulle itti dhiyaatu'uuf hin dandeenne keessa le'a. Nami tokkolle isa hin dhaggine; eennulle isa dhaggu'uuf hin dande'u. Ulfinnii fi hunni bara baraa isaaf te'u! Ameen.

¹⁷ Worri amma biyya lafaa tanatti dureeyyii te'ane akka hin koorre, yookiin addii isaanii karra hin addachiinne irratti adoo hin te'in, akka ittiin gammannuuf Waaqa waan duuchii fakkansee nu'uuf kennutti akka addii godhatanu isaan ajaji.

¹⁸ Hujii dansaa akka hujanu, akka hujii dansa'aan dureeyyii te'anu, akka arjoomanuu fi waan qabanu goodiisaaf ka qophowane akka te'anu ajaji.

¹⁹ Karaa kanaan jiruu dhuga'aa dhaggatiisaaf karra hundeen isi'ii jadduu teete bara dhufuuf kuufatan.

²⁰ Ximootewoos! Waan maganne'een sitti kenname jabeessi eegi. Dubbii midhaan hin qanne, ta waan dhuga'aatiin mormituu fi moromaa gowwittii ta worri gariin «Beekkuma» jedhu irraa fagaadhu.

²¹ Worri gariin beekkumsa kana qanna jedhaa, karaa dhugeeffanna'aa irraa badeera.

Badhaadhi Waaqaa isin woliin jiraatu.

Ergaa Phawuloos Gara Ximootewoosii Erge Ta Lammeesso'oo Seensa

Ergaan Phawuloos Ximootewoosiif barreesse ta lammeesso'oo tun, gorsa inni qarqaaraa isaa ka itti dhiyeennaan isa woliin hujatu, dargaggeessa Ximootewoosiif kenne ifi keessaa qaddi. Yaadi gorsa kanaa irra caalaa marroo ossaan jabaatiisatti. Phawuloos akka Ximootewoos marroo Yesuus Kiristoosii addatamaan dhugaa bayu, barsiisa dhuga'aa ka Oduu Gammadaatii fi Gondooroo Qaraa akka qabaatu, rakko'oo fi moromaan yoo itti guddattelle, barsiisiisaa fi hujii Oduu Gammadaa lallabiisatti akka jabaatu gorse.

Gorsi kun keessumattuu akka Ximootewoos moromaa gowwitti'ii fi bu'aa hin qanne irraa fagaatuuf kenname. Sababille wonni akkasii worra waan akkasii dhage'u balleessiti malee, womaa bu'aa hin qaddu.

Kana duudii keessatti Ximootewoos wonni qabatiisaa male, jiru'uu fi kaayoo leetoo Phawuloosii, keessumattuu dhugeeffannaa, ossata, jaalala, jajjabeenna isaatii fi miidhaa keessatti rakkoo isa dhaqqadde akka fakkeen-naatitti hordofu'u.

Haadhoo Dubbi'ii

Seensa1:1-2

Galataa fi gorsa1:3–2:13

Gorsaa fi ifi eeggannoo2:14–4:5

Akka Phawuloos ifiif keessa jiru4:19-22

Yaada buufataa4:19-22

¹ Ana Phawuloosii, waadaa jiru'uu ka Yesuus Kiristoosiin kenname akka himuuf, fedha Waaqaatiin ergamaa Yesuus Kiristoosii te'e irraa:

² Ilma kiyya jaalatamaa Ximootewoosiif,

Waaqi Abbaan keenaa fi Gootaan keenaa Yesuus Kiristoos badhaadha, mararti'ii fi nageya siif kennu.

Phawuloos Ximootewoos Jajjabeesse

³ Ani yennaa maraa daadimata kiyya ka halkanii fi guyya'aa keessatti yennaa si qaabadhu, Waaqa akkuma abbootii tiyyaa wodanaa qullu'uun tajaajilu hin galateeffadha.

⁴ Imimmaan teeti qaabataa, akka gammadaan guutamu, si dhaggiisaaf guddoo barbaada.

⁵ Dhugeeffannaa dhuga'aa ta ati qaddu hin qaabadha; dhugeeffannaa akkasii akkoon teeti Lo'isii fi haati teeti Ewuniiqeen hin qabaniyyu. Akka atille qaddu hubadheera.

⁶ Tanaaf kennaa Waaqi yennaa ani harka kiyya mataa keeti irra keye siif kenne, tuxxee akka gabbittu si qaabachiisa.

⁷ Ayyaanni Waaqi nu'uuf kenne ka hunnaa, ka jaalalaatii fi ka ifi qabatu'uuti malee, Ayyaana soda'aatii moti.

⁸ Yoona, hunna Waaqi siif kenneen, Oduu Gammadaatiif na woliin rakkadhu malee, Gootaa keennaaf dhugaa bayuu yookiin marroo tiyya ka ani Kiristoosiif jedhee hidhame hin fukkifatin.

⁹ Waaqi waan nuuti gooneef adoo hin te'in, fedhaa fi badhaadha ifitiin nu fayyisee akka kolbaa isaa teenu nu waame. Badhaadhi kun bara heddu'uun dura karaa Kiristoosiitiin nu'uuf kenname.

¹⁰ Amma ammoo karaa dhufiisa fayyisaa keenna Yesuus Kiristoosii du'a balleessee, karaa Oduu Gammadaatiin jiru'uu fi badii irraa hafuu, gara ifaa fideetiin, nutti mudhifameera.

¹¹ Ani Oduu Gammadaa tanaaf lallabaa, ergama'aa fi barsiisaa te'ee filameera.

¹² Ani tanaaf rakkatiisatti jira. Ammoo eennutti akka dhugeeffadhe waan beekuuf isatti hin fukkifadhu; akkasuma waan maganne'een natti kenname, haga guyyaa sanii akka inni eeguu dande'u addadheera.

¹³ Barumsa fayyaaleessa* akka fakkeenfaatitti hordofiisaaf na irraa baratte, dhugeeffanna'aa fi jaalala tokkummaa nuuti Yesuus Kiristoosiin qannu jabeessii qabadhu.

¹⁴ Waan dansaa maganne'een sitti kenname san, hunna Ayyaana Woyyicha nu keessa jiruutiin eegi.

¹⁵ Worri biyya Asiya'aa keessa jiru duudiin, Fiigelosii fi Heromogenesis fa'alle akka na bagane hin beetta.

¹⁶ Onesiforos yennaa hedduu waan na jajjabeesseef, Gootaan maatii isaatiif mararuu ti. Inni ani waan hidhameef hin fukkifanne;

¹⁷ ammoo akkuma biyya Rooma'aa geyeen, asii fi achi barbaadee na dhagge.

¹⁸ Guyyaa muumme'ee san Gootaan marartii isaaf godhu. Biyya Efesooni-ititti attam akka inni naaf ergame atinuu akka dansaa beetta.

2

Loltuu Dansaa Yesuus Kiristoosii

¹ Ilma kiyya Ximootewoos, yoonaa badhaadha Yesuus Kiristoosiin dhagga-mutti jabaadhu.

² Dhugaa baatota hedduu duratti waan na irraa dhageette, namoota dhibii barsiisiisaaf worra dandeettii qabu, worra addatama'atti magannee kenni.

³ Akka loltuu dansaa Yesuus Kiristoosiititti, rakkoo nu waliin fudhadhu.

⁴ Nami hujii loltumma'aatiin tajaajilu tokko, ajajaa ifii gammachiisiisaaf mixiixxata malee, hujii dhibi'iin ifi hin hidhu.

⁵ Akkasuma nami rukke'een doggomu tokko, akka seeraatitti yoo doggome malee, badhaasa injifanno'oo hin dhaggatu.

⁶ Qonnaan bulaan elowee huju qooda midhaan sanii qara dhaggatuu qaba.

⁷ Gootaan waan duudi'iin hubantii waan sii kennuuf, waan ani jedhu qalbeeffadhu.

⁸ Akkuma ani Oduu Gammadaa keessatti lallabe, Yesuus Kiristoosii du'a keessaa ka'e, ka sanyii Daawitii keessaa dhalate, qaabadhu.

⁹ Ani Oduu Gammadaa waan lallabeef akka yakkaamessaa hidhameelle rakkataa jira. Jechi Waaqaa ammoo hin hidhamu.

¹⁰ Tanaaf, worri fooyame fayyinnaa fi ulfinna bara baraa ka karaa Yesuus Kiristoosiitiin dhufu akka dhaggatuuf jedhee waan duuchii hin ossadha.

¹¹ Dubbiin,
«Isa waliin yoo duune,
isa wolille'een jiraanna.

¹² Yoo ittuma ossine
isa waliin hin moona.
Yoo isa mormanne,
innille nu hin mormata.

¹³ Yoo nuuti addatamuu dhanne,
inni waan ifi hin mormanneef,

* **1:13** Fayyaaleessa: Sirrii **2:12** Mat. 10:33; Luq. 12:9

addatamee jiraata» jettu tun dhuga'a.

Hojjataa Waaqaan Fudhatama Qabu

¹⁴ Waan kana isaan yaadachiis, akka jechoota irratti wol hin mormine Waaqa duratti isaan seeri. Wonni kun worra dhage'u balleessiti malee, dansa'aa moti.

¹⁵ Ati akka hojjataa ilaallamee fudhatamee, ka hujii ifiititti hin fokkifanne, ka dubbii dhugaa Waaqaa sirri'itti barsiisuu, fuula Waaqaa duratti ifi dhiyeessiisaaf jabaadhu.

¹⁶ Dubbii Waaqi ittiin hin ulfaannee fi marii gowwittii, ta Waaqa irraa nama fageessitu irraa fagaadhu.

¹⁷ Barsiisi akkasii akka madaa foon nyaattee badhataa deentuu ti. Himnewoosii fi Filexoos worra dubbii akkasii dubbatane keessa jiran.

¹⁸ Isaan karaa dhuga'aa lakkisane, du'aa ka'uun kanaan dura teeteerti jedhaa dhugeeffannaa worra gari'ii balleessaaran.

¹⁹ Teetuu malee hundeen Waaqi keye hin lellexxu; isii irratti, «Gootaan worra isaa ka te'e hin beeka», ammalle «Nami maqaa Goota'aa waamu duudiin hammeenna irraa deebi'uu ti» ta jettu barreeffanteerti.

²⁰ Mana guddaa tokko keessa mey worqii irraa yookiin meetii irraa hujame callaa adoo hin te'in, mey muka irraa yookiin faara irraa hujame hin jiraata; mey kun gariin ulfinnaaf, kuun ammoo tajaajila ulfinna hin qanneef te'a.

²¹ Yoona worri waan hantuu duudii irraa ifi qulleessu, waan ulfinnaatiif te'a; sababille isaan fooyamane, Gootaa isaaniitiif ka bu'aa qabanu waan te'aneef, hujii dansaa duudi'iif qophowaneeran.

²² Halchaa badduu dargaggumma'aa irraa baqadhu; worra gadhaa qullu'uun Gootaa waammatu woliin balchummaa, dhugeeffannaa, jaalalaa fi nageya hordof.

²³ Moromaan gowwittiin bu'aa hin qanne lola akka fiddu waan beettuuf, irraa ifi eegadhu.

²⁴ Tajaajilaan Goota'aa ka lolu te'uu hin qabu. Inni nama duudi'iif arjaa, dansa'aa fi barsiisaa ossataa te'uu qaba.

²⁵ Worra isa mormulle gadhi-laafinnaan gorsuu qaba. Akka isaan cubbuu irraa deebi'anee dhugaa beekanu, Waaqi carraa isaanii hin kenna fa te'a.

²⁶ Yoo san isaan qalbii ifiititti deebi'anee, tiyyoo Seexanaa ta isaan qaddee fedha isaatiif akka ajajamanu goote jalaa hin bayan.

3

Hantuu Guyyaa Muumme'ee

¹ Guyyoota muumme'eetitti yennaan rakkittu akka dhuttu beeki.

² Namooti ka mataa ifii jaalatanu, ka beesee jaalatanu, ka ifi saadanu, kijiboota, ka nama arrassanu, ka worra ifitiif hin ajajanne, ka galata hin qanne, ka woyyummaa hin qanne,

³ ka jaalala hin qanne, ka hin araaranne, ka maqaa namaa balleessanu, ka ifi hin qabanne, ka gadhaa jabaatanu, ka waan dansaa jibbanu,

⁴ ka dabarsanee nama kennanu, jajjartoota, ka ana malee jedhanu te'an; isaan Waaqa caalaa gammada jaalatan;

⁵ isaan dhugeeffannaa waan qabanu fakkaatan, ammoo hunna isi'ii mormataneeran. Worra akkasii irraa ifi eegadhu.

⁶ Isaan keessaa gariin gara mana namaa dhaqaa, dubartoota dadhadduu ta cubbuun irratti tuulantee, halchaa gara garaatiin asii fi achi oofantu, hin qabatan.

⁷ Dubartiin akkasii yennaa mara hin baratti, ammoo ijumaayyuu dhugaa beekiisa bira hin geettu.

⁸ Akkuma Yaaneesii fi Yaamberes Muuse'een mormane, kolbaan qalbii isi'ii baddee fi dhugeeffannaa irraa jidde tun dubbii dhuga'aa mormiti.

⁹ Gowwummaan Yaaneesiitii fi Yaamberesii, nama duudi'itti akkuma beekkante, ta isaaniille nama duudi'itti waan beekkantuuf isaan ur hin geyanu.

Gorsa Phawuloos Ximootewoosiif Kenne

¹⁰ Ati ammoo barsiisa kiyya, adaba kiyya, akeeka jiruu tiyyaa, dhugeeffannaa tiyya, ossata kiyya, jaalala kiyya, fi ciniinnadhee ossatuu kiyya hin beetta.

¹¹ Miidha'aa fi rakkoo tiyya, ta Anxokiya'atti, Iqoniiyumii fi Lisxira'atti na dhaqqadde mara ossatuu kiyya hin beetta. Gootaan ammoo san duudii jalaa na hambure.

¹² Akkasuma nami karaa Yesuus Kiristoosiitiin nama Waaqaa te'ee le'uu fedhu duudiin hin miidhama.

¹³ Worri hama'aa fi malaan nyaattuun worra dhibii dokonkorsaa ifille'eef dokonkora, hammeenna irraa gara hammeennaa ittuma deeman.

¹⁴ Ati ammoo waan barattee jabeessitee itti dhugeeffatte, eennuu fa'a irraa akka baratte waan beettuuf itti jabaadhu.

¹⁵ Ati Barreeffama Woyyicha, qarooma Yesuus Kiristoositti dhugeeffati isaan fayyinni ittiin dhaggamu si'iif kenniisa dande'u ijoollummaa teetiin jalqaddee beetteerta.

¹⁶ Barreeffam Woyyichi duudiin qajeelfama Ayyaana Waaqaatiin waan barreeffameef, dhugaa barsiisiisaaf, worra dokonkore xixiisaaf, balleessaa sirreessiisaa fi karaa balchumma'aatitti qajeelchiisaaf bu'aa qabeessa.

¹⁷ Nami Waaqaa hujii dansaa maraaf ka dandeettii qabu te'ee, ka hidhatee qophowe akka te'u godha.

4

¹ Waaqaa fi Yesuus Kiristoosii worra jiruu fi worra du'elle'etti muru'uuf jiru duratti, deebi'ee dhufiisaa fi mootummaa isaa yaadataa jabeessee si gorsa.

² Jecha Waaqaa lallabi; yennaan toltulle, toluu dhabaattulle qophow; ossa gudda'an namoota balleessanu sirreessaa, xixaa, jajjabeessaa barsiisi.

³ Yennaan namooti barsiisa sirrii te'e dhage'uu jibbanu hin dhutti; isaan barsiisota hedduu ta akka fedhii isaaniititti, waan gurra isaaniitiif tolu isaan barsiittu wolitti raratan.

⁴ Isaan dubbii dhuga'aa dhage'uu didanee, gurra ifii gara oduu durii deebifatan.

⁵ Ati ammoo haala mara keessatti ititi; rakkoo ossadhu; hujii lallaba Oduu Gammadaa huji; hujii itti ergante mara muummessi.

⁶ Ani akka dhibaayyu'uu dhibaafamuu geyeera; yennaan ani du'u geeteerti.

⁷ Ani akka dansaa wodhaantoo qabadheera; doggommii tiyya fixadheera; dhugeeffannaa tiyyalle eegadheera.

⁸ Yoona ammaa achi badhaas balchumma'aa naaf qophoweera; badhaasa kana guyyaa san Gootaan balchichi naaf hin kenna; ana qofaaf adoo hin te'in, worra deebi'ee mudhinnaan dhufa isaa dharra'aan eegatu duudi'iif hin kenna.

Yaadachiisa Phawuloosii

⁹ Ariiti'iin akka teete te'ii koy.

¹⁰ Sababille Deemaas biyya lafaa tana jaalatee, na lakkisee gara qachaa Tasalonqe'ee dhaqeera. Kiresqes biyya Galaatiya'aa, Tiitoos ammoo biyya Dalmaatiya'aa dhaqeera.

¹¹ Luqaas qofattuu na bira jira. Maarqoos huji'iin waan ana qarqaaruu dande'uuf, yennaa dhuttu isa fidii koy.

¹² Xikiqoos ammoo gara qachaa Efesoonii ergeera.

¹³ Yennaa dhuttu gorfa ani Kaarphoos biratti Xiro'aasitti lakkise, kitaabota maramaalle, keessattuu ka gogaa duugama'aan hujame naaf fidi.

¹⁴ Iskindiriin sibiila tumu akka malee na miidhe; Goottaan akkuma hujii isaatiitti isaaf hin kenna.

¹⁵ Inni dubbii teenna jabeessee waan mormeeff, atille isa irraa ifi eegadhu.

¹⁶ Ani waan itti himatameeff yennaa ani guyyaa qaraa dhiyaadhee falmadhe, duudiinuu na lakkisane malee, nami tokkolle na qarqaariisaaf hin dhunne. Tun isaanitti hin laakkowamin!

¹⁷ Ammoo ergaan isaa guutuun karaa kiyyaan lallabantee worri Yihudoota hin te'in duudiin akka dhage'anuu, Waaqi cinaa tiyya dhaabbatee hunna naaf kenne. Afaan neenqaa irralle'ee na hambure.

¹⁸ Goottaan hammeenna hamaa duudii jalaa na baasee, gara mootummaa ol-gubba'aa nageyaan na hin geessa. Ulfinni baraa haga bara baraa isaaf te'u! Ameen.

Nageya Muumme'ee

¹⁹ Phirisqiilaa, Aqiila'aa fi worra mana oneesiforosiititti nageya naa himi.

²⁰ Eraasxoos Qorontoositti hafe; Xirofimoosille waan dhibameeruuf ani qachaa Miilexoosiititti isa lakkise.

²¹ Adoo ganni hin dhufin akka teete te'ii koy.

Yubuloos, Phudenis, Liinos, Kilaawudiiya'aa fi dhugeeffattooti* dhibiille nageya sii dhaamaneeran.

²² Goottaan ayyaana keeti woliin jiraatu.

Badhaadhi Waaqaa isin woliin jiraatu.

4:10 Qol. 4:14; Film. 24; 2 Qor. 8:23; Gal. 2:3; Tit. 1:4 **4:11** Qol. 4:14; Film. 24; HuE. 12:12; 25; 13:13; 15:37-39; Qol. 4:10 **4:12** HuE. 20:6 **4:14** 1 Xim. 1:20; Rom. 2:6 **4:19** HuE. 18:2; 2 Xim. 1:16-17
4:20 HuE. 19:22; Rom. 16:23; HuE. 20:4; 21:29 * **4:21** *Dhugeeffattooti*: Kitaab Giriikii obboleeyyan jedha

Ergaa Phawuloos Gara Tiitoosii Erge Seensa

Tiitoos worra Yihudoota hin te'in keessaa nama gara kiristaanumma'aa deebi'eeru; inni ergaa Phawuloosii ta Wongeelaa, isa waliin ka huju qarqaaraa isaa ti. Phawuloos ergaa tana qarqaarticha ifii Tiitoosii woggaan isaa diqqo'ootiif barreesse. Yennaa san Tiitoos hujii wolde'a kiristaanaa toowataa, biyya Qarxeessii keessa jiraayyu. Ergaan tun yaada gugurdaa sad ifi keessaa qaddi.

Taakkeessoo, sooreyyiin wolde'a kiristaanaa irra caalaa amala badaa worra Qarxeessii biratti yennaa ilaallamu, amala attamii qabaatiisaaf akka malane Tiitoos qaabachiiseera. Lammeessoo, worra wolde'a kiristaanaa keessatti dhaggamu golii adda addaa, jaarsa, jaartii, dargaggoota dhiiraatii fi dubarti'ii, akkasuma tajaajiltoota attamiin akka barsiisu gorsi kennameera. Muummee irratti marroo amala Kiristaanaa keessattuu nageyaa fi lan-summa'aan akka jiraattu, wolde'a kiristaanaa keessaa jibbansa, moroma'aa fi wol fojiisa marroo balleessiisaa gorsaa fi akeettiin Tiitoositti kennanteerti.

Haadhoo Dubbi'ii

Seensa1:1-4

Sooreyyii wolde'a kiristaanaa1:5-16

Wolde'a kiristaanaa keessatti qooda hujii golii adda addaa2:1-15

Gorsaa fi ifi eegannoo3:1-11

Yaada Buufataa3:12-15

¹ Ani Phawuloos tajaajilaan Waaqaatii fi ergamaan Yesuus Kiristoosii, dhugeeffannaa worra Waaqaa filameetii fi beekkumsa dhuga'aa ka gara nama Waaqaa te'iisaatitti geessu akka beekanuuf ka erge,

² dhugeeffanna'aa fi beekkumsi kun, addii jiruu bara baraa, ka Waaqi dhara hin dubbanne, jalqaba baraatiin dura kenne irratti ta hundootte.

³ Yennaan inni murteesse geennaan, ajaja Waaqa fayyisaa keennaatiin karaa lallaba maganne'een natti kennameetiin, Jecha ifii mudhiseera.

⁴ Karaa dhugeeffannaa waliin qannuun, dhugumaan ilma kiyya ka teete Tiitoos,

Waaqi Abbaan, fayyisaan keenna Yesuus Kiristoos badhaadhaa fi nageya sii kennu.

Tiitoos Oddoola Qarxeessii Keessatti Huje

⁵ Wonni ani oddoola Qarxeessii keessatti si lakkiseef, waan karaa hin qabatin hafe akka karaa qassiittuu fi akkuma ani si ajaje qachaa duudii keessatti jaarsolee wolde'a kiristaanaa akka filtuufi.

⁶ Jaarsi wolde'a kiristaanaa ka hin komatanne, ka niitii takka'aa, ka ijoolleen isaalle dhugeeffattuu fi baalagumma'aan yookiin ajajama dhabiisaan maqaan isaanii hin kaane te'uu qaba.

⁷ Toowataan* wolde'a kiristaanaa tokko maganneen hujii Waaqaa ka itti kennante waan te'eef, ka hin komatanne te'uu qaba. Inni nama kooru, yookiin nama dafee aaru, yookiin nama machowu, yookiin nama lola jaalatu yookiin nama beese'eef joljolu te'uu hin qabu.

1:4 2 Qor. 8:23; Gal. 2:3; 2 Xim. 4:10 * 1:7 Toowataan: Afaan Giriikiitiin Ephes Qophos jedhama

⁸ Nama keessummaa fudhatu, nama waan dansaa jaalatu, nama ifi qabatu, nama qajeelaa, nama woyyichaa[†] fi nama adaba qabu te'uu qaba.

⁹ Worra dhibii barumsa sirrii te'een jajjabeessiisaa fi dokonkora worra moromuu mudhisiisaaf akka dande'u akkuma baratetti ergaa addatantuu jabeessee qabatuu qaba.

¹⁰ Namooti hedduun worri hin ajajane, worri jecha midhaan hin qanne dubbatee nama wollaalchisu, keessattuu worri worra Yihudootaa[‡] keessaa dhugeeffate jira.

¹¹ Isaan bu'aa fokkisiisu dhaggatiisaaf jedhanee, waan barsiisiisaaf hin malle barsiisaa, maatii duudii waan laambubanuuf, haasowa isaan kutiisa barbaachisa.

¹² Isaanuma keessaa, raagichi isaanii tokkoo, «Worri Qarxeesii yennaa maraa dharaameyyii, bineensota hama'aa fi booseyyii gadhito'o» jedheera.

¹³ Ragaan kun dhuga'a. Tanaaf, akka isaan dhugeeffannaa sirrii teete qabaatanu, jabeessi isaan xixi;

¹⁴ hagaraa achille isaan oduu Yihudootaa ta durii, yookiin ajaja worra dhugaa irraa fagaatee akka hin caqanne godhi.

¹⁵ Worra qullowaneef wonni marti qullu'u; worra batti'ii fi worra hin dhugeeffanneef ammoo, waan qalbii fi yaadi gadhaa isaanii battoweeruuf, wonni takkaalle qullu'uu moti.

¹⁶ Isaan Waaqa hin beenna jedhan, hujii ifitiin ammoo isa mormatan. Isaan worra jibbama'aa fi worra hin ajajanne, worra waan dansaa tokkole hujisaaf hin dandeenne.

2

Barnoota Sirrii Te'e

¹ Ati ammoo waan barnoota sirrii te'een wolii galu barsiisi.

² Jaarsi ka hagatti le'u, ka kabajaa qabu, ka ifi qabatuu fi ka dhugeeffannaa, jaalalaa fi ossa sirrii te'e qabu akka te'u barsiisi.

³ Akkasuma jaartiin adaba ifitiin ta ifi qabattu teetee, waan dansaa barsiittuutii malee, ta hamattu yookiin ta daadhii yortu akka hin teene barsiisi.

⁴ Isaan, akka dubartooti ka'im abbaa manaatii fi ijoollee ifii jaalattu,

⁵ Jechi Waaqaalle akka hin arraffanne, ta ifi qabattuu fi qulluu, ta akka dansaa mana ifii qabattu, arja'aa fi ta dhirsaaf ajajantu akka teetu barsiisanuu ti.

⁶ Akkasuma dargaggooti akka ifi qabattu gorsi.

⁷ Atinuu waan duudi'in fakkeenna dansaa isaaniif te'i. Barsiisiisa keeti keessalle'etti dhugaamessaa fi nama kabajamaa te'uu keeti mudhisi.

⁸ Worri mormu waan badduu nu irratti dubbatu dhabee akka fokkifatu, jecha sirrii te'e ka hin tuffatanne dubbadhu.

⁹ Garbooleen goottolee ifitiif akka ajajantu, waan maraan akka isaan gammachiittu, akka dubbii ila keessa itti hin deebinne fi,

¹⁰ akka isaan jalaa wo hin hanne barsiisi. Barnooti marroo Waaqa fayyisaa keenaa, karaa duudi'in akka tolu yennaa mara worra dansa'aa fi addatamaa akka te'ane mudhisanuu ti.

¹¹ Waaqi badhaadha ifii ka nama maraaf fayyinna kennu mudhiseera.

¹² Badhaadhi kun cubbu'uun jiraatiisaa fi halchaa badduu biyya lafaa akka lakkinnee, bara kana keessatti ifi qabannee, qajeellee, akka nama Waaqaatitti akka jiraannu barsiisa.

[†] 1:8 Nama woyyicha: Nama Waaqaaf ifi kenneeru
Golii worra haqanqabaa qabatuu

1:9 1 Xim. 3:2-7

[‡] 1:10 Worra Yihudootaa:

¹³ Addii gammachiittuu* fi ulfinnaan mudhatiisa Waaqa guddaa fayyisaa keenna Yesuus Kiristoosii hin eeganna.

¹⁴ Kiristoos hammeenna duudii irraa akka nu fayyisuu fi waan dansaa hujiisaaf akka dharraanu, kolbaa ifii gulleeffatiisaaf mataa ifii dabarsee nuu kenneera.

¹⁵ Worra si dhage'u jajjabeessaa yennaa xixxu, baallii teeti guutu'uun waan kana duudii barsiisi. Nami tokkolle si hin tuffatin.

3

Waan Dansaa Hujuu

¹ Kolbaan bulchitootaa fi worra baallii qabu jalatti akka bultu, akka ajajantuu fi karaa maraan waan dansaa hujiisaaf ta qophootte akka teetu qaabachiis.

² Nama tokko irralle'etti hantuu akka hin dubbanne, nageelliyye'ee fi nama dansaa te'anee, yennaa mara karaa maraan nama duudi'iif gadhi-laafinna akka mudhisanu himi.

³ Tanaan qara nuutille gowwoolee, worra hin ajajanne, worra sobame, worra halcha'aa fi gammachuu foonii ta adda addaatiif garboolee teeneerru. Nuuti hammeennaa fi hinaaffa'aan le'aa, worra dhibi'iin jibbatannee wolille jibbaa turre.

⁴ Ammoo arjumma'aa fi jaalaltiin Waaqa fayyisaa keennaa yennaa mudhatte,

⁵ hujii balchummaa nuuti hunyeef adoo hin te'in, marartii ifitiin, karaa dhiqata dhaloota lammeesso'ootii fi Ayyaana Woyyichaan haareffamiisaatiin nu fayyise.

⁶ Waaqi karaa Yesuus Kiristoosiitiin Ayyaana Woyyicha nu irratti fakkansee buuse.

⁷ Badhaadha isaatiin balchoonnee, jiruu bara baraa ta addi'iin eegannu san akka dhaalluuf inni tana godhe.

⁸ Wonni kun jecha dhuga'aa ti.

Worri Waaqatti dhugeeffate hujii dansaa hujiisaaf akka ifi kennu, jabeessitee akka gorsitu barbaada; wonni kun dansa'aa fi ta nama maraaf bu'aa qaddu.

⁹ Ammoo wol mormii gowwootaa, hidda dhalootaa laakkowuu, wol lolu'uu fi Seera Muuse'ee irratti wol dhabiisa irraa fagaadhu. Sababille wonni kun bu'aa fi gatii hin qaddu.

¹⁰ Nama gargar bayiisa kaasuu yennaa tokkoo fi lama itti gorsi, achiin duuba isa waliin womaa hin qabaatin.

¹¹ Nami akkasii, nama jallatee cubbuu hujee, yakkaa ifitti mure akka te'e beeki.

Gorsa Muumme'ee

¹² Ganna qachaa Niqopholiisii keessatti dabarsu'uuf waan murteeffadheef, yennaa ani Arxemaas yookiin Xikiqoos gara keeti erge, haga dandeette ariiti'iin achitti natti dhufiisaaf wodhaan.

¹³ Zenaasii seera beeka'aa fi Apholoosiif, deensa kara'aatii waan barbaachisu maraan haga dandeette gargaar.

¹⁴ Kolbaan teenna leetoo bu'aa hin qanne akka hin leene, waan leeto'oo barbaachisu hujjee dhaggatiisaaf, hujii dansaa hujiisaaf ifi kenniisa baratuu ti.

* **2:13** Addii gammachiittu: Addii eebbifante **3:12** HuE. 20:4; Efe. 6:21-22; Qol. 4:7-8; 2 Xim. 4:12
3:13 HuE. 18:24; 1 Qor. 16:12

¹⁵ Worri na woliin jiru duudiin nageya siif dhaameera. Worra dhugeeffanna'aan nu jaalatuuf nageya keenna himi.
Badhaadhi Waaqaa isin duudii woliin jiraatu.

Ergaa Phawuloos Gara Filemoonii Erge Seensa

Filemoon kiristaana beekkama'a; inni miseensa wolde'a kiristaana Qolosaayisii akka te'etti yaadatama. Filemoon garbicha Oneesimoos jedhamu qabaayyu; garbichi isaa kun gootaa ifii jalaa yennaa miliqee bade Phawuloos mana hidha'aa jiruun wolde'e. Karaa Phawuloosiitiin Oneesimoos dhugeeffannaa kiristaanaa fudhate. Ergaan Phawuloos gara Filemoonii barreesse, akka inni garbicha gara isaa deebi'ee dhufisatti jiru waliin araaramu ta yaadachiittu. Itti dabaleelle Oneesimoos amma kiristaana waan te'eef, hagaraa achi akka obboleessa kiristaanaatitti akka fudhatu malee, akka garbichaatitti akka hin fudhanne hima.

Haadhoo Dubbi'ii

Seensa 1-3

Galata Phawuloos Filemoona'aaf galche 4-7

Gaaffii Phawuloos marroo Oneesimoosiitiif Gaafate 8-22

Yaada buufataa 23-25

¹ Ana Phawuloosii marroo Kiristoos Yesuusiitiif hidhameeruu fi obboleessa keenaa Ximootewoos irraa,

Filemoonii jaalatamaa nu waliin hujuuf,

² obboleettii teenna Aaphifiya'aaf, Arkiphosii nu waliin lolticha te'eeruu fi wolde'a kiristaanaa ka mana keeti keessatti wolitti qabamuuf:

³ Abbaa keenaa Waaqaa fi Gootaa Yesuus Kiristoos biraa badhaadhii fi nageenni isiniif te'u!

Jaalalaa Fi Dhugeeffannaa Filemoonii

⁴ Daadimata kiyya keessatti yennaa si qaabadhu, yennaa mara Waaqa galateeffadha.

⁵ Sababille dhugeeffannaa ati Gootaa Yesuusitti qadduu fi jaalala ati kolbaa Waaqaa maraaf qaddu dhage'eera.

⁶ Hubantii guutuu waan dansa'aa ka nu Kiristoosiin qannuu maraa akka qabaattuuf, dhugeeffannaa teeti worra dhibi'iif qoodiisatti akka jabaattu hin daadimadha.

⁷ Obboleessa kiyya, gadhaa kolbaa Waaqaa waan jajjabeessiteef jaalala keeti irraa ani gammadaa fi jajjabeenna guddaa dhaggadheera.

Gaaffii Phawuloos Oneesimoosiif Gaafate

⁸ Waan godhu'uu malte akka gootuuf, si ajajiisaaf karaa Kiristoosiitiin ifiaddii qaba;

⁹ te'uu malee jaalalaan si gaafadha. Ani Phawuloosiin jaarsi, amma ammoo Yesuus Kiristoosiif jedhee ka hidhameeru,

¹⁰ marroo ilma kiyya Oneesimoosii, ka ani adoo mana hidha'aa jiruu akka Kiristoos fudhatu tolcheetiif si gaafadha.

¹¹ Dur inni nama si'iif woy bawuu moti, amma ammoo anaa fi si'iifille woy hin baya.

¹² Isa deebisee gara keeti ergeera; ani waan isaa jaaladhuuf gadhaan kiyyalle isa faana dhufeera.

¹³ Marroo Oduu Gammadaatiif, yennaa ani mana hidha'aa jiru, addee teeti akka inni na qarqaaruuf, na waliin as akka turuuf fedheeraayyu.

¹⁴ Te'uu malee hujiin dansaan ati hujju maraa jaalala gadhaa keetiitiin malee, hunnaan akka hin teeneef, si'iin hin mari'atin* womaa godhiisaaf hin barbaanne.

¹⁵ Oneesimoos yennaa gabaaddu'uuf si irraa gargar bayee wonni tureef, yennaa mara si woliin akka jiraatuuf deebittee akka isa fudhattuuf fa'a te'a.

¹⁶ Haganaa achi, inni obboleessa jaalatamaa garbicha caaluu malee, akka garbichaati moti. Inni naaf jaalatama'a, si'iif ammoo namumma'aa fi Gootta'aan, irra caalaa jaalatama'a.

¹⁷ Maarre waa'ela† keeti te'uu kiyya yoo fudhattu teete, akkuma na fudhattu isalle fudhadhu.

¹⁸ Yoo inni si yakkee jiraate, yookiin si irraa wo liqeeffatee jiraate natti laakkow!

¹⁹ Ani Phawuloos, «Si'iif deebisee hin kaffala» jedhee harkuma kiyyaan tana barreessa; atuu Kiristoosiin liqaa kiyya te'uu keeti sitti himuu na hin barbaachisu.

²⁰ Obboleessa kiyya, maqaa Gootta'aatiin waan kana naaf godhi! Kiristoosiin gadhaa na jajjabeessi.

²¹ Ajajama keeti addadhee, waan ani si gaafadhu caalchitte akka ati gootu beekiisaan tana si'iif barreessa.

²² Wonni dhibiin: Waaqi waan isin daadimattane maraaf deebii kennee, gara keessan deebi'ee akka dhufu waan addadhuuf, addee itti foorfadhu naaf qopheessa'a.

Nageya Dhaamiisa

²³ Ephafraas, ka maqaa Kiristoos Yesuusiitiif jedhee na woliin hidhamee jiru nageya si'iif dhaama.

²⁴ Akkasuma worri na woliin hujanu Maarqoos, Arisxaarkos, Deemaasii fi Luqaas nageya si'iif dhaaman.

²⁵ Badhaadhi Goottaa keenna Yesuus Kiristoosii isin woliin jiraatu.

* **1:14** Si'iin hin mari'atin: Adoo ati hin jaalatin, yookiin hin fedhin † **1:17** Waa'ela: Lansa

Ergaa Gara Ibrootaa Ergante Seensa

Ergaan tun gara kiristaanota morimiin guddoon waan dhaqqaddeef dhugeeffannaa ifii lakkisiisa geyaneeranuu barreeffante. Barreessaan Yesuus Kiristoos mudhii Waaqaa dhugitti'ii fi ta muumme'ee akka te'e mudhisiisaan, akka dhugeeffattooti Ibrootaa dhugeeffannaa ifitiin jabaattu jajjabeessa; tana godhiisaan dhugaa sad ifa baasee mudhisa:

1. Karaa rakkinna fudhateetiin ka Abba'aaf dhugumaan ajajame Yesuus Ilma Waaqaa ka bara baraan jiraatu; Ilma Waaqaa waan te'eef raagota Gondooroo Qaraatiif, ergantoota Waaqaatii fi Muuse'eefuu ol aana'a.

2. Yesuus ol aanaa hayyoota Gondooroo Qaraa, hayyicha bara baraa akka te'e Waaqinuub dubbateera.

3. Dhugeeffataan karaa Yesuusiitiin cubbuu irraa, sodaa irraa fi du'a irraa fayya; Yesuus Hayyicha Guddaa akkuma te'ettuu fayyinni aadota dhugeeffanna'aa fi woreega hori'ii, ka dhugeeffannaa Ibrootaa keessatti akka gaaddiddu'uu ilaalamaa ture, dhugaamessa akka te'u godheera.

Barreessaan dhugeeffannaa worra dabarsii Israa'elii keessatti gurra qabuu foora 11 akka fakkeennaa itti fayyaddamiisaan worri dubbifatu dhugeeffannaa ifitiin akka jabaatu yaadachiisa; akkasuma foora 12 irratti worri dubbifatu Yesuus irratti xiyyeeffatiisaan dhugeeffannaa ifitiin akka jabaatuu fi rakkinnii fi farri te'e maraayyuu gewulle akka ossatu gorsa; muumme irratti jecha gorsaatii fi ifi eegganno'oo kenniisaan muummessa.

Haadhoo Dubbi'ii

Seensa: Waaqi Kiristoosiin mudhate **1:1-3**

Kiristoos ergantoota Waaqaa caala **1:4-2:18**

Kiristoos Muuse'ee fi Iyaasuu caala **3:1-4:13**

Caaliisa hayyummaa Kiristoosii **4:14-7:28**

Caaliisa gondooroo Kiristoosii **8:1-9:22**

Caaliisa woreega te'iisa Kiristoosii **9:23-10:39**

Guddoo te'iisa dhugeeffanna'aa **11:1-12:29**

Waaqa gammachiisuu **13:1-19**

Daadimata muummeffataa **13:20-21**

Yaada buufataa **13:22-25**

Waaqi Karaa Ilma Ifitiin Dubbate

¹ Bara durii Waaqi karaa adda addaatiin, yennaa hedduu karaa raago-taatiin abbootii teennatti dubbateera.

² Ammaa ammoo bara duubaa kanatti karaa Ilma ifii ka waan mara akka dhaalu godheetiin nutti dubbate; biyya lafaa duudiille isumaan dade.

³ Inni calalaqa ulfinna Waaqaa ti; akki* isaa guutumatti Waaqaan wol qixxe'e. Jecha ifii hunna qabeessaan waan dadame duudii utubeera. Kol-baalle cubbuu irraa qulqulleeseen duuba, ol gubba'atti midda Waaqa hun-naamessaa tee'eera.

Ilmi Waaqaa Ergantoota Waaqaa Caala

⁴ Maqaan Waaqi isaaf kenne maqaa ergantoota Waaqaa ka caalu akkuma te'e, Ilmi Waaqaa ergantoota Waaqaa caala.

⁵ Waaqi ergantoota ifii keessaa eennuun,
«Ati Ilma kiyya, ani adha si uumadheera»
yookiin eennuun,

* **1:3 Akki:** Adabi

- «Ani isaaf Abbaa hin te'a,
innille ilma naaf hin te'a» jedhee beeka?
- ⁶ Waaqi yennaa ilma ifii angaficha gara biyya lafaa erge,
«Ergantooti Waaqaa martinuu isaaf sagadanuu ti» jedhe.
- ⁷ Ammoo yennaa marroo ergantoota ifii dubbatu,
«Ergantoota ifii qilleensa[†],
tajaajiltoota ifille bobe'a ibiddaa hin godha» jedhe.
- ⁸ Marroo ilmaa ammoo,
«Ee Waaqa, barcumaan mootummaa keetii
bara baraa haga bara baraa hin jiraata;
mootummaa teetille sirri'itti hin bulchita.
- ⁹ Ati balchummaa jaalatee yakkaa jibbite;
tanaaf Waaqi keeti si filatee,
muudaa gammachiisuun hari'oota teeti caalaa si muude» jedhe.
- ¹⁰ Akkasuma,
«Gootta'a, ati jalqabatti hundee lafaa hundeessite;
ol gubbaan marti hujii harka keetii ti.
- ¹¹ Isaan hin badan;
ati ammoo hin jiraatta;
isaan martinuu akka woaya'aa hin dullooman.
- ¹² Ati akka bullukko'oo isaan hin marta;
isaaniille akka woaya'aa hin jijjiiraman.
Ati ammoo yennaa mara sanuma;
woggooti keetille dhuma hin qabanu» jedhe.
- ¹³ Waaqi ergantoota ifii keessaa eennuun,
«Haga ani diinota keeti ejjata miila keetii[‡] jala godhutti
midda kiyyatti tee'i!» jedhee beeka?
- ¹⁴ Maarre, ergantooti Waaqaa martinuu ayyaanota worra fayyu tajaajili-
isaaf ergamanu, tajaajiltoota Waaqaatii motii ree?

2

Fayyinna Guddaa

¹ Tanaaf nuuti waan dhageenne irraa fallaannee akka hin jinne, marroo waan dhageennee xiyyeeffannaa caalte kennuu qanna.

² Dubbiin karaa ergantoota Waaqaatiin himante mirkanootteerti; nami dubbii tana irra taree fi nami isi'iif hin ajajanne maraa adaba isaaf male hin fudhata.

³ Nuuti fayyinna guddaa kanaaf xiyyeeffannaa yoo kennuu dhanne at-tamiin jalaa baana ree? Fayyinna kana ka dursee lasse Gootta'aayyu; worri isa irraa dhage'elle tanuma nu'uuf mirkaneesseera.

⁴ Waaqille beessisoota, baasota, bilbaasota adda addaa godhiisaa fi ken-nansa Ayyaana Woyyichaa ka akka fedha isaa qoodamaneen dhugaa baya ifii itti dabaleera.

Sooressi Fayyinna Ilmaan Namaa Yesuus

⁵ Waaqi biyya lafaa ta dhuttu, ta amma nuuti marroo isi'ii dubbannuu tana akka ergantooti isaa bulchanuuf hin goone.

⁶ Barreeffama Woyyicha keessatti addee takkatti,
«Ee Waaqa, akka isaaf yaadattuuf,
nami maan inni?
Yookiin akka kunuunsituuf,

[†] 1:7 *Qilleensa*: Ayyaanota [‡] 1:13 *Miila keeti*: Baallii teeti

ilmi namaa maan inni?

⁷ Diqquma ergantoota Waaqaa isa hanqitte;

kallacha ulfinnaatii fi guddinnaa itti keette*;

⁸ waan mara baallii ilma namaatiin jala goote» hin jedha.

Waaqi waan mara baallii ilma namaatiin jala yennaa godhu, baallii isaatiin jala adoo hin godhin wonni inni hambure tokkolle hin jiru. Te'uu malee wonni mara baallii ilma namaatiin jala akka jiru ammaa tanalle nuuti hin dhaggine.

⁹ Amma ammoo ka yennaa diqqo'oof ergantoota Waaqaatiin jala te'ee ture, ka rakkinna du'aa waan fudhateef kallachi ulfinnaatii fi guddinni itti keyame, Yesuus hin dhaggina; inni badhaadha Waaqaatiin nu maraaf du'eera.

¹⁰ Waaqi wonni duudiin isaa fi isumaanuu dadame, ilmaan hedduu gara ulfinnaa fidiisaaf, sooressi fayyinna isaanii rakkinnaan guutuu akka te'u godhiis barbaachisaa te'e.

¹¹ Ka kolbaa woyyoonsuu fi worri isaan woyyoomelle ilmaan abbaa tokkoochaa ti; waan kanaaf Yesuus isaaniin, «Obboleeyyan tiyya» jedhee waamiisaaf hin fokkifatu.

¹² Bareeffama Woyyicha keessalle'etti Waaqaan,

«Maqaa keeti obboleeyyan tiyyatti hin lassa;

wolde'a odduulle'etti faaru'uun si hin leellifadha» jedha.

¹³ Akkasuma, «Ani isatti hin addadha» jedha; ammalle, «Kunoo, anii fi ijoolleen Waaqi naaf kennelle as jirra» jedha.

¹⁴ Ijoolleen tun namoota foonii fi dhiiga qabanu akkuma te'ane, Yesuusille du'a ifitiin, Seexana du'a irratti baallii qabu balleessiisaaf, akkuma isaanii nama te'e.

¹⁵ Akkasuma worra du'a sodaatiisaan bara ifii duudii garbummaa jala turelle bilisa baase.

¹⁶ Yesuus sanyii Abrahaamii qarqaariisaaf malee, ergantoota Waaqaa gargaariisaaf hin dhunne.

¹⁷ Tanaaf inni Waaqa tajaajiliisaan Hayyicha Guddaa addatama'aa fi mararticha te'ee, kolbaan araara cubbu'uu akka dhaggattuuf, waan maraan obboleeyyan ifii fakkaatiis isaaf barbaachise.

¹⁸ Inni ifiifuu ataabamee rakkinna waan fudhateeruuf, worra ataabamu qarqaariisaaf hin dande'a.

3

Yesuus Muusee Caala

¹ Tanaaf dhugeeffattooti woyyoontanee, worra waamicha ol-gubba'aa goodamu teetane, ka Waaqi ergee fi Hayyicha Guddaa dhugeeffannaa teen-naa Yesuus yaadadha'a.

² Muuseen mana Waaqaa mara keessatti addatamaa akkuma te'ee ture, Yesuusille Waaqa isa muudeef addatama'a.

³ Nami mana ijaaru mana san caalaa ulfinna akkuma qabu, Yesuusille, Muuse'een caalaa ulfinna dhaggatuu qaba.

⁴ Manni maraa namaan ijaarame; waan mara ka ijaare ammoo Waaqa.

⁵ Muuseen waan gara duraa jedhamu'uu maleef dhugaa bayiisaaf, akka tajaajilaa tokkootitti mana Waaqaa duudii keessatti addatamaa te'e.

* **2:7** Barreeffami durii gariin, «Hujii harka keetii irralle'etti isa muudde» yaada jedhulle qaba

⁶ Kiristoos ammoo mana Waaqaatitti akka ilmaatitti addatama'a. Nuutille waan itti addannuu fi addii ittiin koorru jabeessinee yoo qabanne mana isaa ti.

Foora Kolbaa Waaqaa

- ⁷ Maarre akkuma Ayyaanni Woyyichi jedhu,
«Adha, qoonqoo Waaqaa
yoo dhageettane,
⁸ akkuma guyyaa ilaallacha'aa lafa goomolee keessatti Waaqa finqiltaa-
nee san
mataa hin jabaatina'a!
⁹ Waaqi, «Abbootiin teessan achitti na ilaallatte; na wodhaantelle'e;
woggaa afurtama waan ani godhelle dhaggite.
¹⁰ Tanaaf ani dhaloota sanitti aaree,
gadhaan isaanii yennaa mara na irraa gora,
isaan karaa kiyyalle hin beenne.
¹¹ Maarre addee fooraa ta ani isaanii kennutti ijjumaa hin galanu jedhee
aarii tiyyaan kakadheera» jedhe».
¹² Obboleeyyan tiyya, isin keessaa eennulle gadhaa hama'aa fi hin dhugeeffanne, ka Waaqa jiraataa irraa garagalu akka hin qabaanne ifi eeggadha'a!
¹³ Ammoo eennulle isin keessaa cubbu'uun sobamee akka mataa hin jabaanne, yennaan «Adha» jedhantu tun adoo hin tarin guyyuma guyya'aan wol jajjabeessa'a!
¹⁴ Nuuti dhugeeffannaa teenna ta qara qannu haga muumme'eetitti jabeessinee yoo qabanne, worra Kiristoos woliin qooda qabaannu hin teena.
¹⁵ Tun akkuma Barreeffami Woyyichi,
«Adha qoonqoo Waaqaa yoo dhageettane,
akkuma yennaa finqilaa gootane san mataa hin jabaatina'a!» jedhu.
¹⁶ Worri qoonqoo Waaqaa dhage'ee finqile eennu fa'a? Worruma Muuse'een sooreffamee biyya Gibxiitii baye maraayyuu motii?
¹⁷ Waaqi woggaa afurtama eennufa'atti aare? Worruma cubbuu hujee, lafa goomole'ee keessatti reeffi isaa jigee badee motii?
¹⁸ Akkasuma worra hin ajajamin san yoo te'e malee, «Addee fooraa ta ani kennutti hin galtanu» jedhee ka itti kakate eennu fa'a?
¹⁹ Maarre worri itti galiisa dadhabe, dhugeeffatiisa dhabiisaan akka te'e dhaggina.

4

- ¹ Tanaaf addee fooraa ta inni nu'uuf kennutti galiisaaf waadaan galame ammalle waan banaa jiruuf, isin keessaa eennulle carraa itti galiisaa adoo hin dhaggatin akka hin hanne, kowa'a ifi eeggannaa!
² Oduu Gammadaa tama akka nuuti dhageennee isaanille dhage'ane; te'uu malee isaan jecha dhage'ane san dhugeeffanna'aan waan hin fudhatiniif isaaniif wo hin baane.
³ Hujiin isaa haga biyyi lafaa dadanteen jalqaddee fixantulle, «Addee fooraa ta ani kennutti isaan ijjumaa hin galanu jedhee aarii tiyyaan kakadheera» akkuma jedhe, ammalle nuuti worri dhugeeffanne addee fooraa ta waaqi nu'uuf kennu sanitti hin galla.
⁴ Marroo guyyaa torbeesso'ootiif addee takkatti, «Waaqi hujii ifii duudii irraa guyyaa torbeesso'oo foorfate» jedhantee barreeffanteerti.
⁵ Ammalle adduma tanatti, «Addee fooraa ta ani kennutti ijjumaa hin galanu» jedha.

⁶ Addee fooraa sanitti worri galu gariin jira; worri Oduu Gammadaa dursee dhage'e sun ajajamiisa waan dhabeef addee fooraa ta Waaqi isaaf kennutti hin galle.

⁷ Tunille akkuma kanaan dura,
«Adha qoonqoo isaa yoo dhageettane;
mataa hin jabaatina'a» jedhee,
Waaqi bara heddu'uun duuba karaa Daawitiitiin dubbii dubbateen,
guyyaan dhibiin ka, «Adha» jedhamee waamame waan murtoweeff mirkanoweera.

⁸ Iyaasuun addee fooraa san adoo isaaniif kennee jiraate, Waaqi ammalle,
«Adha» jedhaa marroo guyyaa biraa hin dubbatuuyyu.

⁹ Yoona kolbaa Waaqaatiif foorri foora guyyaa Sanbataa fakkaatu ammalle hafeera.

¹⁰ Akkuma Waaqi hujii ifii irraa foorfate, nami foora Waaqi kennutti galu huji ifii irraa hin foorfata.

¹¹ Maarre eennulle akka worra sanii ajajamiisa dhabiisaan jigee akka hin hanne, kowa'a addee fooraa sanitti galiisaaf jabaannaa!

¹² Jechi Waaqaa jiraata'aa fi ka huju; shallaagaa qara lama qabu caalaa qara qaba; lubbuu ayyaana irraa, morgaya dhuka irraa muree gargar hin baasa; yaadaa fi halchaa gadhaa namaalle goree itti hin mura.

¹³ Dadi Waaqa duraa dhokattu takkaalle hin jirtu; wonni maraa fuula isaa duratti mulqama'aa fi qullaa te'ee mudhata; nuutille marroo teennaaf ka deebii kennuu qannu fuula isaa duratti te'a.

Yesuus Hayyicha Guddaa Guddicha

¹⁴ Yoona Hayyicha Guddaa guddicha ka gara ol-gubba'aa dabare, Yesuusii Ilma Waaqaa waan qannuuf dhugeeffannaa teenna jabeessinee qabannuu ti.

¹⁵ Hayyichi Guddaan nuuti qannu ka dadhabbii teenna nu'uuf nayuu dande'u; inni waan maraan akkuma keenna ataabameera; te'uu malee ijumaa cubbuu hin hunye.

¹⁶ Yoona yennaa qarqaarsi nu'uuf barbaachisetti akka marartii fudhanuu fi badhaadha dhaggannu, kowaa gara badhaadhi itti dhaggamu, gara barcumaa mootumma'aa ka Waaqaa sodaa malee dhikaannaa.

5

¹ Hayyichi guddaan mara namoota keessaa filamee, haajaa Waaqa woliin woldeessisu irratti addee kolba'aa bu'ee kennansaa fi woreega cubbu'uu dhikeessiisaaf muudama.

² Inni ifiifuu dadhabbii akkasii waan qabuuf, worra wollaala'aa fi worra karaa irraa bade gadhi-laafumma'aan ilaaliisaaf hin dande'a.

³ Inninuu dadhabbii waan qabuuf, akkuma cubbuu kolba'aatiif dhikeessu, cubbuu ifiitille'eef woreega dhikeessuu qaba.

⁴ Akkuma Aaronii ka Waaqaan waamame malee, eennulle ulfinna kana ifiin hin fudhatu.

⁵ Akkasuma Kiristoos ulfinna Hayyicha Guddaa te'iisaa ifiin hin fudhanne; ammoo Waaqa isaan,

«Ati Ilma kiyya,
ani adha si uumadheera!» jedhettuu ulfinna kana kenneef.

⁶ Addee dhibiille'etti,
«Akkuma hayyummaa,
Malkiisedeqii,
ati haga bara baraa hayyu'u» hin jedha.

⁷ Yesuus biyya lafaa tana irra yennaa le'e, iyyansa gudda'aa fi imim-maaniin, daadimanna'aa fi gaaffii gara Waaqa du'a irraa isa fayyisiisaaf dande'uu dhikeesse; ifi gadi qabee waan ajajameef Waaqi daadimannaa isaa dhage'eef.

⁸ Ilma Waaqaa te'ulle, rakkinna fudhateen ajajamiisa barate.

⁹ Guutuu te'een duuba worra isaaf ajajamu maraaf madda fayyinna bara baraa te'e.

¹⁰ Waaqi akkuma hayyummaa Malkiisedeqii, Hayyicha Guddaa godhee isa muude.

Akka Dhugeeffannaa Hin Lakkinne Ifi Eggachiisa

¹¹ Marroo waan kanaa waan jennu waan hedduu qanna; ammoo hubatiisaaf waan rinciccanuuf*, ifa tolchane himuun rakkisa'a.

¹² Yennaa kana barsiisota te'uu maltane; amma ammoo jecha Waaqaa barumsa jalqabaa nami biraa ammalle akka isin barsiisu barbaachisa; silaa sagalee jaddu'utti isinii male; ammoo ammalle aananitti isiniif barbaachisa.

¹³ Nami aananiin jiraatu annuu waan te'eef, barsiisa dansa'aa fi hamaa gargar baasiisaa hin baranne.

¹⁴ Sagaleen jadduun ammoo worra gugurdaa, worra dansa'aa fi hamaa gargar baasiisa barateeruuf barbaachitti.

6

¹ Yoona kowa'a barsiisa marroo Kiristoosiitiif kenname, ka jalqabaa lakkinnee gara barsiisa guutu'uu dabarra. Nuuti hundee hujii gara du'aa geessitu irraa deebi'iisaatii fi Waaqatti dhugeeffatiisaa, deebinee hin hundeessinu.

² Akkasuma barsiisa marroo cuuphiisaa, marroo harka mataa namaa irra keyiisaa, marroo du'aa ka'iisaa, marroo muraa bara baraa deebinee hin hundeessinu.

³ Yoo Waaqi jedhe tana hin goona.

⁴ Worra dhugeeffannaa ifii mormate gara cubbuu irraa deebi'iisaa deebisiis attamiin dande'ama? Kanaan qaraa ifi isaanii ifeera; kennansa olgubba'aalle dhandhamaneeran; Ayyaana Woyyicha wolille'een qoodamaneeran.

⁵ Dansummaa jecha Waaqaatii fi hunna bara dhufiisaaf jiruulle dhandhamaneeran.

⁶ Kanaan duuba yoo isaan dhugeeffannaa ifii mormatane, Ilma Waaqaa ifiifuu deebisanee waan fannisanuu fi waan ifaataan salphisanuuf, isaan gara cubbuu irraa deebi'iisaa deebisiis hin dande'amu.

⁷ Latti bokkeya isii irratti roobu yennaa hedduu untee, abbaa biqiltuu irratti dhaabeef bu'aa buuchu Waaqa irraa eebba hin dhaggatti.

⁸ Qore'ee fi qumi'uuduu yoo baache ammoo, gatii hin qaddu; yennaa gabaadduu keessatti hin abaaranti; duubi isi'iille ibiddaan gubatiisa.

⁹ Lansoota tiyya akkas dubbannulle, isin ejjannoo caaltuu ta fayyinna keessan isiniif fiddu irra jiraachuu keessan mirkaneeffanneerra.

¹⁰ Waaqi Waaqa sirri'itti muru; inni hujii teessanii fi jaalala isin kolbaa isaa gargaariisaan maqaa isaatiif mudhittanee fi ammalle gargaariisaan mudhisiisatti jirtanu hin dedhu.

¹¹ Isin martinuu waan addi'iin eeggattanu haga harkaan qabattanutti, jabeenna keessan haga muumme'eetitti akka mudhittanu barbaanna.

* **5:11** Waan rinciccanuuf: Waan hubantii diqqoo qaddanuuf **5:13** 1 Qor. 3:2

¹² Worra dhugeeffanna'aa fi ossatiisaan jabaatee, waan waadaan galameef dhaalu akka fakkaattanu barbaanna malee, worra rincicaa akka teetanu hin barbaannu.

Waadaan Waaqaa Addachiisa'a

¹³ Waaqi, Abrahaamiif yennaa waadaa gale, ittiin kakatiisaaf ka isa caalu waan hin jirreef, ifiin kakatee,

¹⁴ «Ani dhugumaan si hin eebbisa, sanyii teetille hin fakkansa» jedhe.

¹⁵ Abrahaam ossataan eeggatee waan waadaan galameef dhaggate.

¹⁶ Namooti yennaa kakatanu maqaa nama isaan caaluutiin kakatan; dubbii ifille kaku'uun jabeessiisaan, wol mormii isaan wodhakkaa jirtu maraa balleessan.

¹⁷ Waaqi akki yaada isaa ka hin jijjiiranne akka te'e irra caalaa ifa tolchee mudhisiisaaf barbaadee, worra waadaa galame dhaaluuf, waadaa ifii gale kaku'uun jabeesse.

¹⁸ Akkuma kanaan Waaqi waan lama ka hin jijjiirannee fi ka ittiin hin sonne addii fi kakuu nu'uuf kenneera; karaa waan lama kanaatiin addii nu dura jirtu jabeessinee qabatiisa akka dandeennu, nu worri isatti baqanne jajjabeenna guddaa hin dhagganna.

¹⁹ Akka hookkoon sibiilaa, hoboloo guddittii* qabee dhaabu, nuutille addii addatantu'uu fi jadduu ta lubbuun teenna qabatee dhaabbattu qanna; addiin tun golla'aan duuba dabartee gara addee woyyittii Galma Waaqaa ka ol-gubba'aa hin seenti.

²⁰ Addeen sun addee Yesuus akka seera hayyummaa Malkiisedeqii, Hayyicha Guddaa bara baraa te'ee, nu'uuf nu'uun dura seeneeru.

7

Hayyicha Malkiisedeq

¹ Malkiisedeqiin kun mootii Saalemiitii fi hayyicha Waaqa Ol Aana'aa ti; inni yennaa Abrahaam mootota injifatee deebi'u kara'atti wolde'ee isa eebbise.

² Abrahaam waan duudii keessaa, kudhan keessaa tokko baasee kenneef; hiikkaan maqaa Malkiisedeqii tokkeessoon, «Mootii balchumma'aa ti», akka-suma «Mootii Saalemii» jechuun «Mootii nageyaa» jechu'u.

³ Malkiisedeq abbaa, haadha, yookiin hidda dhalootaa hin qabu*; barri jireenna isaalle jalqabaa fi dhuma hin qabu; akka ilma Waaqaa haga bara baraa hayyuu te'ee jiraata.

⁴ Abbaan sanyii teennaa Abrahaam waan booji'e keessaa, kudhan keessaa tokko eega isaaf kenne, nami kun attam guddaa akka te'e ilaala'a!

⁵ Worri sanyii Lewwi'ii te'anee hujii hayyumma'aatitti ramadamanu, sanyii Abrahaamii te'anulle kolbaa ifii irraa jechuun obboleeyyan ifii irraa kudhan keessaa tokko akka fudhatanu seerrii hin ajaja.

⁶ Malkiisedeq ammoo sanyii Lewwi'ii te'uu dhabulle, Abrahaamii waadaan galameef irraa kudhan keessaa tokko fudhatee, isa eebbise.

⁷ Diqqaan gudda'aan eebbifamiis mama hin qabu.

⁸ Karaa tokkoon kudhan keessaa tokko worri fudhatu worra du'a'a; karaa kaaniin ammoo kudhan keessaa tokko ka fudhatu, hayyicha jiraataa akka te'e ka dhugaan hinteef Malkiisedeq.

* **6:19** *Hoboloo guddittii:* Markaba * **7:3** Malkiisedeq haadhaa fi abbaa isaa ka barreeffamaan beekkamanne waan dhabaneef, barreessaan akka fakkeenaa hayyummaa Yesuusii ta bara baraa godhane itti fayyadameera

⁹ Lewwiin kudhan keessaa tokko fuudhuuyyu, yennaa san karaa Abrahaamiitiin, «Kudhan keessaa tokko baaseera» jedhiisaaf hin dande'ama.

¹⁰ Sababille yennaa Malkiisedeq Abrahaamiin wolde'e, Lewwiin gudeeda Abrahaamii abbaa ifii keessa jiraayyu.

¹¹ Karaa hayyummaa Lewwi'iitiin seerri kolba'aaf kenname; karaa hayyummaa Lewwootaa kanaan guutummaan adoo dhaggantee jiraatte, muudaa hayyummaa Aaronii adoo hin te'in, hayyichi biraa ka muudaa hayyummaa Malkiisedeqii qabu dhufiis sila hin barbaachisuuyyu.

¹² Yennaa hayyummaan jijjiirantu seerrille jijjiiramuu qaba.

¹³ Gootaan keenna ka marroo isaatiif amma dubbatamu kun ka gosa dhibii keessaa ti; gosa tana keessaa addee ciinca'aa dhiyaatee nami tajaa-jileeru tokkolle hin jiru.

¹⁴ Gootaan keenna gosa Yihuda'aa keessaa dhalatiis ka beekkame; te'uu malee Muuseen yennaa marroo hayyootaa dubbate, waan gosa Yihuda'aa womaa hin dubbanne.

Kiristoos Hayyicha Akka Malkiisedeqii ti

¹⁵ Hayyichi biraa ka akka Malkiisedeqii gaafa ka'u, wonni kun caalaa ifa teeti.

¹⁶ Inni karaa aada'aa fi seera sanyi'iitiin adoo hin te'in, karaa hunna jireenna isaa ka dhuma hin qanneetiin hayyuu te'e.

¹⁷ Marroo isaatiif barreeffama Woyyicha keessatti,

«Akkuma hayyummaa

Malkiisedeqii,

ati haga bara baraa hayyuu hin teeta»

jedhamee dhugaan bayameeraaf.

¹⁸ Ajaji duraa dadhaba'aa fi ka wo hin baane waan te'eef diigameera.

¹⁹ Seera Muuse'eetiin wonni tokkolle guutuu te'iisaaf hin dandeenne; amma ammoo addiin caaltuun ta ittiin gara Waaqaa dhikaannu nu'uuf kennanteerti.

²⁰ Hayyummaan tun kakuu Waaqaatiin malee hin teene; worri duraan hayyoota te'ane kakuu malee te'ane.

²¹ Yesuus ammoo kakuu Waaqaatiin hayyuu te'e; marroo isaatiif Barreeffama Woyyicha keessatti,

«Waaqi, «Ati haga bara baraa hayyu'u» jedhee kakateera,

inni yaada ifii hin jijjiiratu» jedhantee barreeffanteerti.

²² Sababa kakuu tanaatiin Yesuus gondooroo caaltu'uuf wobii te'eera.

²³ Hayyooti duraa hujii hayyummaa ifii akka itti hin fufne duuti waan dhooggituuf, laakkossi isaanii heddu'u.

²⁴ Yesuus ammoo haga bara baraa waan jiraatuuf, hayyummaan isaa hin jijjiirantu.

²⁵ Tanaaf inni isaaniif gaafatiisaaf yennaa duudii waan jiraatuuf, worra karaa isaatiin gara Waaqaa dhiyaatu ijumaa fayyisiisaaf hin dande'a.

²⁶ Yoona Hayyicha Guddaa: Woyyicha, ka komii hin qanne, qulqulluu, ka cubbaalleyyii irraa gargar baye, ka ol-gubba'aan irra ol aaneeru ka waan nu'uuf barbaachisu mara godhu nu'uuf barbaachisa.

²⁷ Inni akka hayyoota gugurdoo dhibi'i, dursee cubbuu ifitiif, achiin duuba cubbuu kolba'aatiif guyyuma guyya'aan woreega dhiyeessii hin barbaachisuuf; yennaa ifi woreega tolchee dhikeesse, takkumaan yennaa maraaf muummeseera.

²⁸ Seerri Muuse'ee worra dadhabaa hayyoota gugurdoo godhee muuda; jechi kaku'uu ka Seera Muuse'eetiin duuba dhufe ammoo, haga bara baraa guutuu ka te'e Ilma Waaqaa muudeera.

8

Yesuus Hayyicha Guddaa Gondooroo Haareyaa ti

¹ Yoona waan dubbannu keessaa wonni guddaan, «Nuuti Hayyicha Guddaa ol-gubba'atti midda barcumaa mootummaa Waaqa ol-aana'aatitti te'eeru qanna» ka jedhu.

² Inni addee woyyittii dunkaanii dhugittii teete, keessatti tajaajila; dunkaaniin tun harka namaatiin adoo hin te'in Gootta'aan dhaabbante.

³ Hayyooti gugurdoon martinuu, kennansaa fi woreega dhiyeessiisaaf muudaman; tanaaf hayyichi kun waan dhiyeessu qabaatiisa barbaachisa.

⁴ Akka seeraatitti hayyooti kennansa dhiyeessanu waan jiranuuf, inni adoo lafa tana irra jiraatelle'e hayyuu hin te'uuyyu.

⁵ Dunkaaniin hayyooti keessatti tajaajilanu tun, dunkaanii ol-gubbaa jirtuuf fakkeennaa fi gaaddiddu'u; yennaa Muuseen dunkaanii ijaarsaaf ka'e Waaqi, «Waan mara malaan akkuma fakkeenna gaara irratti sitti mudhiseetitti tolchi!» jedheen.

⁶ Amma ammoo, gondooroon Yesuus wodhakkaa namaatii fi Waaqaa itti te'e, ta waadaa caalu irratti hundeeffante, akkuma Gondooroo Qaraa caaltu, tajaajilli isaaf kennamelle caala'a.

⁷ Gondooroon duraa ta komii hin qanne adoo teete, gondooroon lammeesso'oo sila hin barbaachittuuyyu.

⁸ Waaqi kolbaa ifii irratti balleessaa dhaggee,
«Kunoo, guyyaan ani kolbaa Israa'eliitii fi kolbaa Yihuda'aa woliin,
gondooroo haareya gondooru hin dhufa» jedha Goottaan.

⁹ «Gondooroon tun,
ta akka yennaa biyya Gibxiitii harka qabee isaan baase,
abbootii isaanii woliin gondooretii moti;
waan isaan gondooroo tiyyatti hin jabaatiniif,
anille xiyyeeffannaa isaaniif hin kennine» jedha Goottaan.

¹⁰ «Yennaa saniin duuba,
kolbaa Israa'elii woliin gondooroon ani gondooru,
Seera kiyya qalbii isaanii keessa hin keya;
gadhaa isaanii keessalle'etti hin barreessa.

Ani isaaniif Waaqa hin te'a;
isaanille kolbaa tiyya hin te'an;
ta jettu» jedha Goottaan.

¹¹ «Nami tokkolle ollaa ifitiin yookiin obboleessa ifitiin,
Goottaa beeki! Jedhee hin barsiisu;
diqqa'aa haga gudda'aatitti martinuu na beekan.

¹² Yakkaa isaaniille isaaniif hin araarama,
cubbuu isaaniille haganaa achi hin qaabadhu» jedheera» jedhe.

¹³ Yoona Waaqi, «Gondooroo haareya» jedhee dubbatiisaan, gondooroo duraa dulloonseera jechu'u; wonni dulloomee fi moofoye maraa badiisa geyera.

9

Waaqonfannaa Lafa Irraatii Fi Ol-Gubba'aa

¹ Gondooroon duraa seera waaqonfanna'aatii fi Galma Waaqaa ka lafaa qaddi.

² Dunkaaniin kolloo lama qaddu qopheeffanteertiyyu. Kolloon balbalatti aantu ta wonni ifa irra keyanu, xarapheessa'aa fi daabboon Waaqa dura dhikaattu keessa jirtu, «Addee Woyyittii» jedhanti.

³ Gollaa lammeesso'ootiin gara duubaa addeen jirtu ta keessaa, «Addee Irra Caalaa Woyyittii» jedhanti.

⁴ Achi keessa addeen ciinca'aa, ta worqi'iin hujantee hixaanni irratti aarfamuu fi Saanduqi* Gondooro'oo ka worqi'iin gonfameeru jiran; Saanduga Gondooro'oo tana keessa okkoteen worqi'iin hujanteertu ta sagaleen mannaa jedhantu keessa jirtu, uleen Aaronii ta lattee fi dhakaan baxxichi lamaan ka ajaji kudhan irratti barreeffame jiran.

⁵ Saanduga Gondooro'oo irra dadi ol-gubba'aa ta koola qaddu† ta ulfinnaa, ta qadaaddaa addee araarri cubbu'uu kennamuu, koola ifitiin golliteertu jirti; amma ammoo marroo waan kana maraa tokko tokkoon dubbatiisaaf hin dandeennu.

⁶ Wonni mara akkasitti qopheeffameen duuba, hayyooti tajaajila ifii muummessiisaaf, yennaa mara gara kolloo dunkaani'ii ta balbalatti aantuu seenan.

⁷ Kolloo gara boro'oo Hayyicha Guddaa calla'atti seena; innille wogga'atti yennaa tokko callaa seena; inni cubbuu ifitii fi cubbuu kolbaan wollaalaan huje maraaf, dhiiga dhikeessu adoo hin qabatin hin seenu.

⁸ Dunkaaniin qaraa haga jirtu karaan gara addee woyyittii woyyootaa geessu, ammalle akka hin banamin Ayyaanni Woyyichi akkasiin mudhisa.

⁹ Kunille fakkeenna yennaa ammaa ti; kenna'aa fi woreegaan akka kanaan dhikaatanu wodanaa nama waaqonfatuu qulqulleessiisaaf ijumaa hin dande'anu.

¹⁰ Wonni kun mara marroo nyaataatii fi uni'ii, marroo aadaa ifi qulleessiisa adda addaa waan te'eef, seera foonii ka haga yennaan seera haareyaa dhuttutti huju.

¹¹ Kiristoos ammoo waan dadansaa dhufaaruuf Hayyicha Guddaa te'ee mudhateera; dunkaaniin inni seene guddo'oo fi guutu'u; dunkaaniin tun ta harka namaatiin hin hujaminii fi ta dada tana keessaa hin te'in.

¹² Kiristoos woreega dhikeessiisaaf dhiiga re'e'eetii fi dardaraa qabatee adoo hin te'in, takkumaan yennaa maraaf dhiiga ifii qabatee, addee woyyittii woyyoota seene; akkasiin wodama bara baraa akka dhagganu nu'uuf godhe.

¹³ Dhiigii re'e'eetii fi dardaraa, daadhaan goronsa ciinceffameelle namoota battowane irratti facaasuun, battummaa foon isaanii irraa isaan ka qulleessu yoo te'e,

¹⁴ dhiigi Kiristoosii ka karaa Ayyaana bara baraatiin, woreega fokkoo hin qanne godhee, Waaqaaf ifi dhikeesse, Waaqa jiraataa akka Waaqonsinuuf, hujii du'atti geessitu irraa attam attam irra caalaa wodanaa keenna qulleessa ree!

¹⁵ Worri waamamane dhaala bara baraa ka waadaan galameef akka fudhatanu, Kiristoos Gondooroo Haareyaaf wodhakkicha. Yennaa Gondooroo duraa jala jiranu san cubbuu hujane irraa bilisa baasiisaaf wodoo te'ee du'e.

¹⁶ Yoo dhaamati dhaalaa jiraate, du'a nama dhaamatuu san mirkaneef-fatiis barbaachisa'a.

¹⁷ Dhaamati dhaalaa gaafa namichi dhaala kenne sun du'e callaa hujii irra oola malee, adoo inni jiruu hujii irra ooluu hin dande'u.

* 9:4 Saanduqi: Saaxiniin † 9:5 Dadi ol-gubba'aa ta koola qaddu: Dadi koola qaddu ta dhaggama Waaqaa bakka buutu.

¹⁸ Tanaaf Gondoeroon duraatuu dhiigaan malee hujii irra hin oolle.

¹⁹ Muuseen ajaja Seeraa tokko tokkoon kolbaa maraaf himeen duuba, dhiiga dardaraatii fi re'e'ee bisaan waliin fuudhee, baala muka hisoophiitii fi rifeensa hoole'ee diima'aan, Kitaaba Seeraatii fi kolbaa maratti fiffixaa,

²⁰ «Dhiigi gondooro'oo ka akka eeggattanuuf Waaqi isin ajaje kana» jedhe.

²¹ Akkasuma dunkaani'ii fi meya waaqonfanna'aaf tajaajilu maratti diiga fiffixe.

²² Dhugumaan akka Seera Muuse'eetitti waan diqqoo malee, wonni maraa dhiigaan qulleeffama; adoo dhiigi hin dhangala'in araarri cubbu'uu hin jiru.

Woreegamiis Kiristoosii Cubbuu Balleessa

²³ Wonni fakkeenna waan ol-gubba'aa te'e mara, waan kana maraan qulloomiis barbaachisa'aayyu; wonni ol-gubbaa jiru maraa ammoo ifiifuu woreega kana caaluun qulleeffama.

²⁴ Kiristoos Galma Waaqaa ka harka namaatiin ijaarame, ka fakkeenna dunkaanii dhugitti'ii te'e hin seenne; inni amma nu'uuf Waaqa duratti mudhatiisaaf jedhee ol-gubbaa seene.

²⁵ Hayyichi guddichi Yihudootaa dhiiga ka isaa hin te'in qabatee, wogguma wogga'aan addee woyyittii Woyyoota seenaa ture; Kiristoos ammoo yennaa hedduu woreega godhee ifi dhikeessiisaaf hin seenne.

²⁶ Adoo akkas te'ee, haga biyyi lafaa dadanteen jalqabee, sila Kiristoos yennaa hedduu rakkinna fudhatiisa qabaayyu. Amma ammoo bara muumme'eetitti, ifi woreegiisaan cubbuu balleessiisaaf, takkumaan yennaa maraaf mudhateera.

²⁷ Nami mara akka du'uu fi achiin duuba mura'aaf akka dhikaatu murtay-eera.

²⁸ Kiristoos cubbuu nama heddu'uu ba'atiisaaf yennaa takkaa woreegameera; ammalle cubbuu ba'atiisaaf adoo hin te'in, worra dharra'aan isa eeggatu fayyisiisaaf lammeessoo hin dhufa.

10

¹ Seerri waan dansaa dhufuuf gaaddiddu'u malee, akka akki isaa jiru ka dhuga'aatii moti; tanaaf wogguma wogga'aan yennaa mara woreega woreegamu worra gara Waaqaa dhikaatu guutuu godhiisaaf ijjumaa hin dande'u.

² Adoo Seerri isaan guutuu godhiisaaf dande'ee jiraate, worri waaqonfatiisaaf dhikaatu karaa itti deddeebii hin qanneen cubbuu irraa waan qulqulloomuuf, wodanaa isaaniititti cubbuun isaanii waan hin dhage'anneef, sila woreega dhikeessiisa hin lakkisaniyyu.

³ Woreegi kun marti ammoo wogguma wogga'aan ka isaan cubbuu ittiin qaabatanu.

⁴ Sababille dhiigi dardaraatii fi re'e'ee cubbuu balleessiisaaf hin dan-deenne.

⁵ Tanaaf Kiristoos gara biyya lafaa yennaa dhufe,
«Ati woreegaa fi kenna'atti hin gammanne,
ammoo nafa naaf qopheessite.

⁶ Woreega ciinca'aatii fi,
woreega cubbu'uuf woreegamutti ati hin gammanne.

⁷ Yennaa san ani,
«Waaqa kiyya, Kitaaba Maramu keessatti
akkuma marroo tiyyaaf barreeffante,
ani fedhii teeti muummessiisaaf dhufeera» jedhe» jedhee dubbate.

⁸ Seerri akka inni tana tolchuuf ajajulle, inni ammoo asiin olitti, «Ati woreegaa fi kennaa, woreega ciinca'aatii fi woreega cubbu'uu hin barbaanne, ittille hin gammanne» jedhe.

⁹ Itti dabaleelle, «Kunoo, ani fedhii teeti muummessiisaaf dhufeera» jedhe; woreega lammeesso'oo addee buusiisaaf, woreega qaraa diige.

¹⁰ Akka fedhii Waaqaatitti, karaa foon* Yesuus Kiristoosiitiin takkumaan yennaa maraaf woreega woreegameen woyyuu teeneerra.

¹¹ Hayyichi mara guyyuma guyya'aan dhaabbatee tajaajila hayyumma'aa tajaajila; woreega cubbuu balleessiisaaf hin dandeenne sanille yennaa mara dhikeessa.

¹² Kiristoos ammoo woreega tokkocha yennaa maraaf te'u dhikeesseen duuba, midda Waaqaatitti tee'eera.

¹³ Yennaa sanii jalqabee diinoti isaa ejjata miila isaa akka te'anuu eeggatisatti jira.

¹⁴ Sababille inni worra woyyoome san woreega tokkochaan haga bara baraa guutuu akka te'u godheera.

¹⁵ Ayyaanni Woyyichille marroo waan kanaa dhugaa nu'uuf hin baya. Inni duraan dursee,

¹⁶ «Guyyooti sun yennaa geyane,
gondooroon ani isaan woliin gondoorradhu,
Seera kiyya gadhaa isaanii keessa hin keya,
qalbii isaanii keessalle'etti hin barreessa ta jettu jedha Gootaan» jedhee dhugaa bayeef.

¹⁷ Itti dabaleelle,
«Ani cubbu'uu fi jalluu isaanii deebi'ee hin qaabadhu» jedhe.

¹⁸ Eega kana araarri maraaf kenname, haganaa achi woreegi cubbu'uuf dhikeeffamu hin jiraatu.

Kowa'a Gara Waaqaa Dhikaanna

¹⁹ Obboleeyyan tiyya, yoona dhiiga Yesuusiitiin addee woyyittii woyyootaa seeniisaaf ifi-addii dhaganneerra.

²⁰ Nuuti karaa golla'aatiin, jechuun karaa haareyaa fi jiraataa inni foon ifiitiin nu'uuf baneen seenna.

²¹ Nuuti Hayyicha Guddaa mana Waaqaa irratti baallii qabu qanna.

²² Tanaaf wodanaa hamaa irraa akka qulloonnu yaada gadha'aa qulleeffannee, nafa keennalle bisaan qullichaan dhiqannee, gadhaa qajeela'aa fi dhugeeffannaa dhugittii qabannee, kowa'a gara Waaqaa dhikaannaa.

²³ Waaqi waadaa nu'uuf gale addatamaa waan te'eef, addii dhugeeffannee dhugaa baanuuf tana, kowa'a adoo asii fi achi hin jedhin jabeessinee qabanna.

²⁴ Jaalalaa fi hujii dansa'aan dammandhee akka leenuuf, kowa'a wolii yaadannaa.

²⁵ Yennaa mara wolitti qabamaa wol jajjabeessinuuti malee, akkuma worri gariin lakkisiisa barate, wolitti qabamiisa me lakkinuu ti; guyyaan dhufiisa Goota'aa akka dhikaate qaabataa waan kana irra caalaa godha'a.

²⁶ Dhugaa beenneen duuba, beekaatuma cubbuu yoo hunye, haganaa achi woreegi cubbu'uuf dhikaatu hin jiru.

²⁷ Amma ammoo, muraa sodaachisuu fi ibidda hamaa mormitoota Waaqaa nyaatu eeggatisatti hafeera.

²⁸ Nama Seera Muuse'eetiif ajajama dhabe, yoo nami lama yookiin nami sad itti dhugaa baye, marartii malee du'aan adabama.

* **10:10** Foon: Kitaab Giriikii nafa jedha

²⁹ Nami Ilma Waaqaa tuffate, ka dhiiga gondooro'oo ka ittiin balchoome shasheesse, ka Ayyaana badhaadhaa arrasse, adabama kana caalu attami-ititti barbaachisaaf isinitti fakkaata?

³⁰ Nuuti, «Haluu ka baasu ana, ani gatii malte deebisee hin kaffala», akkasuma, «Gootaan kolbaa ifititti hin mura» ka jedhe eennu akka te'e hin beenna.

³¹ Harka Waaqa jiraata'aa seenuun akka malee sodaachisa'a.

³² Ifi isiniif ifeen duuba, guyyoota duri rakkinna fudhattanee wodhaantoo guddoon ossattane san qaabadha'a.

³³ Yennaa tokko tokko nama duratti arraffantanee, farritaneertan; yennaa dhibii worra rakkinna akkasii fudhatu wolille'een rakkinna fudhattaneertan.

³⁴ Isin karra caaltuu fi yennaa mara jiraattu akka qaddanu waan beet-tanuuf, worra hidhameef gadhaa laattane; yennaa karri teessan saaman-tulle gammadaan fudhattane.

³⁵ Yoona ifi-addii Waaqatti qaddanu, ta gatii guddoo ittiin dhaggattanu san hin gatina'a!

³⁶ Fedhii Waaqaa muummessitanee, waan Waaqi isiniif waadaa gale fudhatiisaaf ossataan eeggatiisa barbaachisa.

³⁷ Sababille Barreeffam Woyyichi,

«Yennaa diqqo'oon duuba,
ka dhufu'uu male hin dhufa,
hin turu;

³⁸ Nami balchaan kiyaa ammoo,
dhugeeffanna'aan jiruu dhaggata.

Yoo duubatti sissiqe ammoo ani itti hin gammaddu» hin jedha.

³⁹ Nuuti worra dhugeeffatee fayyu malee, worra gara duubaatitti sissiqee baduu moti.

11

Dhugeeffannaa

¹ Dhugeeffannaa jechuun waan addi'iin eeggatamu tokko, «Dhuguma hin te'a» jedhanee fudhatiisa; waan ilaan hin dhaggine tokkolle akka waan dhaggamuutitti laakkowiisa.

² Worri durii dhugeeffanna'aan Waaqa biraa fudhatama dhaggate.

³ Ol-gubba'aa fi biyyi lafaa jecha Waaqaatiin akka dadamane dhugeeffanna'aan hin hubanna; waan kanaaf wonni ilaan dhaggamu maraa waan ilaan hin dhaggine irraa akka hujame hin beenna.

⁴ Abeel dhugeeffanna'aan woreega ka Qaayinii caalu Waaqaaf dhi-keesse; Waaqi woreega Abeelii gammadaan yennaa fudhate, Abeel dhugeeffanna'aan balchaa akka te'e dhugaa bayeef; Abeel du'ulle karaa dhugeeffanna'aatiin ammalle dubbatiiisatti jira.

⁵ Heenoki akka duuti isa hin dhaqqanne dhugeeffanna'aan ol fudhatame; waan Waaqi isa fudhateef inni hin dhagganne; adoo hin fudhatamin dura akka inni Waaqa gammachiiseeru dhugaan bayameeraaf.

⁶ Dhugeeffanna'aan malee Waaqa gammachiisuun hin dande'amu; nami gara Waaqaa dhiyaatu, akka Waaqi jiruu fi worra isa barbaaduuf ka gatii kennu akka te'e dhugeeffatuu qaba.

⁷ Nohi marroo waan ilaan hin dhagginee yennaa Waaqi ifi eeggachiise, Waaqa sodaatee maatii ifii fayyisiisaaf hobo loo guddittii dhugeeffanna'aan

huje. Sababa dhugeeffannaa isaatiif biyya lafaatitti yakkaan murante; innille balchummaa dhugeeffanna'aan dhaggantu dhaale.

⁸ Abrahaam biyya ifitii bayee, addee akka dhaalaa fudhatu akka dhaquuf yennaa waamame gara itti dhaqaaru beekuu dhabulle, dhaqiisaaf dhugeeffanna'aan ajajame.

⁹ Inni Yisihaqii fi Yaaqoobii isa woliin waadaa galame dhaalanu woliin, biyya waadaan galame keessa, akka ormaa dunkaanii keessa dhugeeffanna'aan le'e.

¹⁰ Inni qachaa guddaa hundee jabaa qabu, ka Waaqi akka inni itti ijaaramu qopheessee ijaare waan eeggataa tureef tana godhe.

¹¹ Abrahaam guddoo dulloommulle, Saaraan ta deya hin qanne* teetulle, Waaqi waadaa gale addatamaa akka te'e waan beekeeruuf, dhugeeffanna'aan hunna uumatiisaa dhaggate†.

¹² Tanaaf Abrahaamii tokkocha akka nama du'eetitti laakkowamu irraa, finni akka urjii ol-gubba'aa fakkanuu fi akka maansa abbaayaa qarqaraa laakkossa hin qanne dhaggame.

¹³ Worri kun duudiin waadaa isaaniif galame adoo hin fudhatin dhugeeffanna'aan adoo jiranuu du'ane; ammoo fago'otti dhagganee, akka waan dhaggataneetitti gammadaan fudhatane. Lafa tana irralle'etti ormaa fi keessummoota akka te'ane beekaneeraniyyu.

¹⁴ Worri akkas dubbatanu biyya ifii eegatiisatti akka jiranu mudhisan.

¹⁵ Biyya keessaa bayane san adoo yaadaa jiraatane itti deebi'iisaaf sila hin dande'aniyyu.

¹⁶ Amma ammoo, isaan biyya san caalu ka ol-gubbaa jirtu dharra'an; tanaaf Waaqi qachaa guddaa waan isaaniif qopheesseeruuf, «Waaqa isaanii» jedhamee waamamiisaaf hin fokkifanne.

¹⁷ Abrahaam yennaa Waaqi isa haga ilaale, dhugeeffanna'aan Yishaqi woreega godhee dhikeesse. Abrahaamiin waadaa fudhate sun ilma ifii tokkochuma san woreega godhee kenniisaaf qophoweeraayyu.

¹⁸ Ilmi isaalle ka Waaqi, «Sanyiin teeti Yisihaqiin waammanti» jedheen san.

¹⁹ Waaqi du'aa kaasiisaaf dandeettii akka qabu Abrahaam waan hubateeruuf, akka waan du'aa ka'eetitti deebi'ee Yisihaq dhagge.

²⁰ Yisihaq waan gara duraa te'u yaadatee dhugeeffanna'aan Yaaqoobii fi Esaawu eebbise.

²¹ Yaaqoob yennaa du'a geye, qaccee borjoo ifiititti irkifatee Waaqaaf sagadaa, dhugeeffanna'aan ilmaan Yoseefii tokkuma tokkoon eebbise.

²² Yoseefille yennaa du'a geye, dhugeeffanna'aan kolbaan Israa'elii biyya Gibxii keessaa akka baatu dubbatee, lafee isaalle maan godhuu akka malane ajaja kenne.

²³ Yennaa Muuseen dhalate, haatii fi abbaan isaa akka inni shaggicha te'e dhagganee, ajaja mootichaa adoo hin sodaatin ji'a sad dhugeeffanna'aan dhossane.

²⁴ Muuseen yennaa guddate, dhugeeffanna'aan ilma intala Fara'oonii jedhamee waamamuu dide.

²⁵ Inni yennaa gabaaddu'uuf gammada cubbu'uutiin gammadu'uun irra, kolbaa Waaqaa woliin rakkatuu filate.

²⁶ Gatii gara duraa fudhatu waan ilaaleeruuf, marroo Masiihiitiif‡ salphatuun, karra biyya Gibxiitiin irra, ta caaltu akka teete yaadate.

* **11:11** Ta deya hin qanne: Maseena † **11:11** Woraabbiin gariin, «Saaraan ka isi'iif waadaa gale addatamaa akka te'e waan beetteef dulloontee deya dhaddulle dhugeeffanna'aan hunna gadhaachottu dhaggate» jedhe ‡ **11:26** Masiihiitiif: Kiristoosiitiif

²⁷ Inni dhugeeffanna'aan, mufii mootichaa adoo hin sodaatin biyya Gibxiitii baye; Waaqa ilaan hin dhagginelle akka waan dhaggeetitti te'ee yaada qabutti jabaate.

²⁸ Ergamaan Waaqaa ka akka ilmaan angafoota ijjeesuuf ajajame, angafoota kolbaa Israa'elii akka hin ijjeenneef jedhee, dhugeeffanna'aan Jila Irra Dabaramaatii fi aadaa fixiisa dhiigaa godhe.

²⁹ Kolbaan Israa'elii Abbaayaa Diintuu keessa, akkuma lafa goddu'uu dhugeeffanna'aan qaxxaamurte; worri Gibxii ammoo akkuma isaanii godhiisaaf wodhaanee liqinfame.

³⁰ Worri Israa'elii dhugeeffanna'aan Yerikoo marsee, guyyaa torba irra naannoween duuba dalleenni dhaka'aa jige.

³¹ Sagaagaltittiin Rahaab jedhantu dootuu[§] waan nageyaan fudhatteef, worra hin ajajane woliin du'iisa irraa dhugeeffanna'aan hatte.

³² Yoona tana caalaa maan jedhu ree? Marroo Giidewonii, Baaraaqii, Samsoonii, Yifta'aa, Daawitii, Saamu'eliitii fi raagotaa isinitti odeessiisaaf yennaan naa hin geettu.

³³ Isaan dhugeeffanna'aan mootota injifatane; sirri'itti bulchane; waan waadaa galamelle fudhatane; afaan neenqaa cufane;

³⁴ bobe'a ibiddaa dhaanfane; qara shallaaga'aa jalaa bayane; dadhabbii ifii irraa jajjabaatane; lolaan janna te'ane; loltoota ormaa ari'ane.

³⁵ Dubartooti firoottan isaanii duraa du'anee, du'aa ka'ane, deebisane fudhatane. Worri kuun ammoo du'aa ka'ane jiruu caalte dhaggatiisaaf, hiikkamuu didanee, farra dhaggane.

³⁶ Worri kuun taphatamanee liche'een dhaanamanee, wodaroo sibiilaatiille'een hidhamanee, mana hidha'aatitti hidhamane.

³⁷ Dhaka'aan tumamane; magaazi'iin addee lamatti baqaffamane; shallaaga'aan ijjeefamane; gogaa hoole'eetii fi re'e'ee uffatanee asii fi achi deemane; hiyyoommatanee, miidhamanee*, akka malee tolfamane.

³⁸ Biyyi lafaa isaaniif ta malte hin teene! Isaan akka worra baqatuu goomole'ee fi gaara, godaa fi boolla lafaa keessa olii gadi deemane.

³⁹ Dhugeeffannaa isaan maraatiifuu dhugaan bayantulle, waadaa isaaniif galame ammalle hin fudhanne.

⁴⁰ Waaqi waan caalu waan nu'uuf qopheesseeruuf, isaan nu woliin malee, qofuu guutuu te'iisaaf hin dande'anu.

12

Waaqi Abbaa Keenna

¹ Maarre dhugaa baatota akka duumensaa adaala keenna naannessane kana mara waan qannuuf, kowa'a waan ba'aa nu irratti te'e maraa fi cubbuu nu'utti maxxante ifi irraa balleessinee, doggommii rukkee nu dura jirtuu ciniinnannee ossatiisaan rukkinna.

² Nuuti jalqaba'aa fi muummessaa dhugeeffannaa teennaa ka te'e Yesuus ilaaliisaan rukkinna; inni waan gammadi fuula isaa dura jiruuf, salphinna fannoo irratti du'iisaa adoo woyitti hin laakkowin, rakkinnaa fi du'a fanno'oo ossatee midda barcumaa mootumma'aa ka Waaqaatitti tee'e.

³ Yoona akka hifattanee addii hin kutanne, mormii cubbaaleyyi'ii tana mara ka ossate Yesuus ilaala'a.

⁴ Isin cubbu'uun woliin wodhaantoo qabatiisaan haga dhiiga keessan dhangalaasiisaatitti haga ammaa hin falmanne.

⁵ Gorsa Waaqi akka ijoollee ifititti isinitti dubbate deetaneertan; inni,

«Ilma kiyya! Yennaa Goottaan sirreessiisaaf si xixu,
akka kaso'ootitti hin ilaalin;
yennaa inni si adabelle,
gadhaa hin kutatin!

⁶ Sababille Goottaan nama jaalatu hin xixa;
nama akka ilma ifiititti fudhatulle
hin adaba» jedha.

⁷ Waaqi akka ijoollee ifiititti waan isin ilaaluuf, rakkoo adabbi'ii ossadha'a!
Ilmi abbaan hin adabane kam inni?

⁸ Adabbii ijoolleen fudhattu maraa isinille yoo hin fudhanne, isin baana*
malee ijoolle'ee moti.

⁹ Kana maleelle nuuti martinuu abbootii nu adabanu qanna; nuutille
isaan hin ulfeessina. Akka jiru'uun leenuuf irra caalaa Abbaa keenaa ka
ayyaanaatiif ajajamu'uu mallee motii ree?

¹⁰ Abbootiin teenna yennaa diqqo'oof akkuma dansaa fakkaattee isaanitti
mudhattetti nu adabane; Waaqi ammoo akka nuuti woyyummaa isaa
goodannuuf, bu'aa teennaaf nu adaba.

¹¹ Adabbiin kennantu yennaa san ka nama gaddisiittu malee, ka nama
gammachiittu hin fakkaatu; duuba ammoo worra itti barateef midhaan
balchumma'aa ka nageyaan guutame hin buuchi.

Gorsaa Fi Ifi Eeggachiisa

¹² Tanaaf harka keessan ka isin irraa bu'ee fi jilba keessan ka dadhabe
jabeessa'a!

¹³ Miilli keessan ka naafate akka fayyu malee akka adde'een hin kaane,
miila keessaniif karaa qajeelfadha'a.

¹⁴ Nama maraa waliin nageyaan le'a! Woyyumma'aan malee, een-
nulle Goottaa dhaggiisaaf waan hin dandeenneef, woyyumma'aan le'iisaaf
jabaadha'a.

¹⁵ Isin keessaa eennulle irraa badhaadhi Waaqaa akka hin dhidhanne,
akkasuma hiddi hadhowaan isin keessatti latee akka isin hin rakkinnee fi
worra hedduu akka hin xureessine ifi eeggadha'a.

¹⁶ Eennulle baalagee, yookiin akka Esaawuu sagalee yennaa takka'aatiif
jedhee, angafummaa ifii gurguree ka Waaqa malee le'u te'ee, akka hin teene
ifi eeggadha'a.

¹⁷ Duuba irra Esaawu eebba dhaggatiisaaf yennaa barbaade, akka
dhooggame isinuu hin beettan; bowaa eebba dhaggatiisaaf barbaadatulle,
waan huje irraa deebi'iisaaf carraa hin dhaganne.

¹⁸ Isin akka Israa'elootaa gara gaara Siina'aa ka harkaan qabamuu
dande'uu, ka ibiddaan bobbe'uu hin geenne; gara dukkanaa, gara dimmaa,
gara bubbe'ee,

¹⁹ gara qoonqoo tultulla'aatii fi qoonqoon jechaan himantu dhage'antuu
hin dhikaanne; worri jecha san dhage'ane akka jechi dhibiin dabalamee itti
hin dhage'anne kadhatane.

²⁰ Ajaji, «Bineensille gaara san yoo tuqe, dhaka'aan tumamee du'uu ti» jedhu
waan isaanitti ulfaateef, ba'atiisaaf hin dandeenne.

²¹ Wonni achitti dhaggame akka malee sodaachisaa waan te'eef,
Muuseenuu, «Ani sodaadhee holladhe» jedhe.

²² Isin ammoo gara gaara Xiyoonii dhikaattaneertan; Xiyoon qachaa
Waaqa jiraata'aa ka teete Yerusaalemii ol-gubba'aa ti; isin gara ergantoota

* **12:8 Baana:** Baana'a

Waaqaa ta kuma heddu'utti laakkowantuu, ta gammadaan wolitti qaban-teertuu dhikaattaneertan.

²³ Gara Wolde'a worra maqaan isaanii ol-gubba'atti barreeffamee, ka angafoota ijoollee Waaqaa te'ane dhikaattaneertan. Gara Waaqa kolbaa duudi'itti muruutii fi lubbuu balchoole'ee ta guutuu teetee dhikaattaneertan.

²⁴ Gara Yesuusii wodhakkicha gondooroo haareyaa te'ee, gara ka dhiiga Abeelii caalaa dubbatuutii fi dhiiga isaa ka fixamee dhikaattaneertan.

²⁵ Ka dubbatiisatti jiru san akka hin didanne ifi eeggadha'a! Worri Waaqi biyya lafaa irratti dubbatuun didane jalaa bayiisa eega dadhabane, nuuti ka ol-gubbaa irraa nutti dubbatu yoo didanne attamiin jalaa baana ree!

²⁶ Yennaa san qoonqoon isaa lafa tachooteerti; amma ammoo, «Ani ammalle yennaa tokko, lafa callaa adoo hin te'in, ol-gubbaalle hin tachoosa» jedhee waadaa galeera.

²⁷ Jechi, «Ani ammalle yennaa tokko» jedhu kun, wonni hin tachoone jabaatee akka le'u, wonni tacho'u yookiin wonni dadame akka badu mudhisa.

²⁸ Yoona nuuti mootummaa hin tachoone waan dhaalluuf kowa'a Waaqa galateeffanna; karaa inni itti gammaduun, ulfinnaa fi soda'aan kowa'a isa Waaqonfanna.

²⁹ Sababille Waaqi keenna ibidda gubee balleessu.

13

Tajaajila Waaqa Gammachiisu

¹ Yennaa mara akka obboleeyyanii wol jaaladha'a!

² Keessummaa fudhattanee keessummeessiisa hin dedhina'a; sababille akkas godhiisaan namooti gariin adoo hin beekin ergantoota Waaqaa fudhattanee keessummeessaneeran.

³ Akka isaan waliin hidhantanee jirtanuutitti, worra hidhameeru yaadadha'a! Akka isaan waliin rakkatiisatti jirtanuutitti, worra rakkinna fudhatiisatti jiru yaadadha'a!

⁴ Fuudhaa fi heerum nama mara biratti ulfinna qabaatuu ti; Waaqi worra sagaagaluu fi worra gaarayyeefatutti waan muruuf, abbaan manaatii fi haati manaa waliif addatamanuu ti.

⁵ Jaalala beese'ee irraa if qusadha'a; wonni isin qaddanu isin gewuu ti. Waaqi, «Ani ijjumaa si hin lakkisu, ijjumaa si hin gatu» jedheera.

⁶ Maarre sodaa malee,
«Gootaan gargaaraa kiyya,
ani hin sodaadhu;
nami maan na godhuu dande'a ree?» hin jenna.

⁷ Worra jecha Waaqaa isinitti dursee hime sooreyyii teessan qaabadha'a! Leetoo isaanii keessaa waan dhaggame ilaala'a, fakkeenaa dhugeeffannaa isaanille fudhadha'atii hordofa'a.

⁸ Yesuus Kiristoos kaleelle, adhaalle, haga bara baraalle sanuma!

⁹ Barsiisa adda addaa, barsiisa orma te'e maraan hin booji'amina'a! Gadhaan keenna seera sagale'ee eeggatiisaan adoo hin te'in, badhaadha Waaqaatiin adoo jabaate dansa'a; worri seera sagale'ee eeggateeyyuu womaa hin dhaganne.

¹⁰ Nuuti addee ciincaan itti ciinceffamu qanna; te'uu malee worri dunkaanii Yihudootaa san keessa tajaajilu akka addee ciincaan itti ciinceffamu irraa nyaatuuf hin eeyyamamu.

¹¹ Hayyichi guddichi Yihudootaa, dhiiga hori'ii ka araara cubbu'uu fidu qabatee addee woyyittii woyyootaa seena; foon horii sanii ammoo addee itti qubataneen alatti gubama.

¹² Akkasuma Yesuus dhiiga ifitiin kolbaa woyyoonsiisaaf, karra qachaa gudda'aatiin alatti rakkate.

¹³ Kowa'a nuutille addee quttumaatii baanee gara isaa dhandha; worra salphinna inni fudhatelle goodannu teena.

¹⁴ Nuuti qachaa guddicha dhufu eeggatiisatti jirra malee, qachaa guddicha hin banne lafa tana irratti hin qannu.

¹⁵ Yoona, karaa Yesuusiitiin woreega galataa adoo gargar hin kutin, kowa'a Waaqaaf kennina. Kunille woreega galataa, ka afaan maqaa isaatiif dhugaa bawu irraa dhikaatu.

¹⁶ Waan dansaa godhiisaa fi waan qaddanu worra dhibi'iin geyiisa hin dedhina'a! Woreegi akkasii Waaqa hin gammachiisa.

¹⁷ Sooreyyii teessaniif ajajama'a; baallii isaaniitille'een jalatti bula'a; isaan baallii Waaqaan itti gaafatamanu waan qabanuuf, lubbuu teessan jabaatane tissan; yoo isin isaaniif ajajantane, isaan kana gammadaan hujan; yoo akkas hin te'in, gaddaan hujan; kun isiniif dansa'aa moti.

¹⁸ Nu'uuf daadimadha'a; nuuti karaa maraan waan dansaa hujiisaaf halchaa waan qannuuf, wodanaa qulqulluu akka qannu beenneerra.

¹⁹ Irra caalaa akka ani dafee gara keessan deebi'ee dhufuuf akka daadi-mattanu, jabeessee isin kadhada.

Daadimata Muumme'ee

²⁰ Waaqi Abbaan nageyaa, ka dhiiga gondoaroo bara baraatiin, tissee hoole'ee guddicha, Gootaa keenna Yesuus du'aa kaase,

²¹ fedhii isaa akka muummessitanuuf waan dansaa maraan isin hidhachiisu; waan isa gammachiisulle, karaa Yesuus Kiristoosiitiin nu keessatti hujuu ti. Ulfinni haga bara baraa Yesuus Kiristoosiif te'u! Ameen.

Nageya Dhaamiisa

²² Obboleeyyan tiyya! Ergaan ani isiniif barreesse tun gabaadduu waan teeteef, dubbii gorsaa tana ossataan akka fudhattanu jabeessee isin kadhada.

²³ Obboleessi keenna Ximootewoosille mana hidha'aatii akka hiikame akka beettanu fedha. Yoo inni dafee as dhufe, isa waliin dhufee isin dhagga.

²⁴ Sooreyyii teessanii fi kolbaa Waaqaa maratti nageya naa hima'a! Obboleeyyan biyya Ixaaliya'aatii dhutte nageya isinitti dhaanti.

²⁵ Badhaadhi Waaqaa isin mara waliin jiraatu! Ameen.

Ergaa Yaaqoob Erge Seensa

Ergaan Yaaqoobii ta qajeelfama leetoo guyyaa guyya'aatiif teetu qabat-teertu tun, «Kolbaa Waaqaa ta biyya lafaa duudii irratti bittinnootte maraaf» barreeffante. Barreessaan marroo mala qarummaa hujii irra oolchinuu, marroo waan ilaalchaa fi amala kiristaanaatiif qajeelfama te'uu, dubbii itti fakkeessa'aa ta ifa teete heddu'uun dhikeessa. Marroo hiyyumma'aatii fi durumma'aa, marroo ataabe'ee, marroo amala dansa'aa, marroo hinaaffa'aa, dhugeeffanna'aatii fi hujii dansa'aa, marroo fayida'aa fi miidhaa arrabaa, marroo qarumma'aa, marroo wol loliisaa, marroo kooriisaatii fi ifi gad qabu'uu, marroo namatti muriisaa, marroo ifi jajiisaa, marroo ossatiisaatii fi marroo daadimanna'aa, marroo waan kiristaanoti godhiisaaf malanee tokko tokkoon barreesseera.

Ergaan tun haala dhugeeffannaan jiruu kiristaanaa keessatti huji'iin mudhattuu, ifa gootee mudhitti.

Haadhoo Dubbi'ii

Seensa1:1

Dhugeeffanna'aa fi qarummaa1:2-8

Hiyyumma'aa fi durummaa1:9-11

Haga ilaallatamu'uu fi ataabamuu1:12-18

Jecha Waaqaa dhage'ane hujii irra oolchuu1:19-27

Nama wol caalchisuu irraa ifi eeggachiise2:1-13

Dhugeeffanna'aa fi hujii2:14-26

Kiristaanaa fi arraba isaa3:1-18

Kiristaanaa fi biyya lafaa4:1-5:6

Gorsa adda addaa5:7-20

¹ Ana Yaaqoobii tajaajilaa Waaqaatii fi Goottaa keenna Yesuus Kiristoosii irraa, gosa kudhanii lama ta biyya lafaa duudi'itti bittinnootaneef:

Nageenni isiniif te'u.

Dhugeeffanna'aa Fi Qarummaa

² Obboleeyyan tiyya! Haga ilaallatama adda addaatiin ilaallatamuun yoo isinitti dhuttelle, akka gammadaatitti fudhadha'a!

³ Sababille haga ilaallatamuun dhugeeffannaa teessanii ciniinnattanee ossiisa akka fidu hin beettan.

⁴ Haga muumme'ee ciniinnattanee ossiis keessan worra bilchaatee fi guutuu te'e, ka dhidhinna hin qanne akka teetanu isin gootuu ti.

⁵ Nami isin keessaa qarummaan dhidhatte yoo jiraate, Waaqa nama maraaf arjumma'aa fi komii malee kennu gaafatuu ti! Innille isaaf hin kenna.

⁶ Ammoo adoo hin mamin dhugeeffanna'aan gaafatuu ti; nami mamu akka danbalii abbaaya'aa ta qilleensaasii fi achi darbantuu ti.

⁷⁻⁸ Nami akkasii, ka yaada lamaatii fi karaa maraan raafamaa waan te'eef, Goottaa biraa waan tokkolle hin dhaggadha jedhee hin eegatin.

Hiyyumma'aa Fi Durummaa

⁹ Obboleessi gad aanaan, waan Waaqaan ol qabamuuf ifi jajuu ti!

¹⁰ Durummaalle akkuma daraara'aa waan dabartuuf, obboleessi dureessille yoo Waaqi isa gad qabe ifi jajuu ti!

¹¹ Aduun o'a isi'ii ka woxaluun baatee daraaraa qoorsiti; daraaraan hin harca'a, dansummaan isaalle hin baddi. Akkasuma dureessille, hujii ifii adoo hujatuu hin bada.

Haga Ilaallatamu'uu Fi Ataabamuu

¹² Nami ataabee ciniinnatee ossatu ka badhaadhe. Sababille ataabamee haga ilaallameen duuba, gatii* jiru'uu ka Waaqi worra isa jaalatuuf waadaa gale hin fudhata.

¹³ Nami yennaa ataabamu, «Waaqi na ataabe» hin jedhin; Waaqi hantu'uun hin ataabamu; ifille'eef nama hin ataabu.

¹⁴ Ammoo nami martinuu halchuma ifitiin yennaa sossobamee sobamu ataabama.

¹⁵ Achiin duuba, halchaan sun yennaa ulfootte, cubbuu dhalti; cubbuun sunille, yennaa guddatee geette, du'a dhalti.

¹⁶ Obboleeyyan tiyya ta jaalatantane, hin sobamina'a.

¹⁷ Arjummaa dansa'aa fi kennansi mijuun mara abbaa ifa ol-gubba'aa dade, ka akka gaaddisaa garagaggaliis yookiin jijjiiramiis bira hin jirre biraa dhufa.

¹⁸ Nuuti dada isaa maraaf angafa akka teenuuf, Waaqi fedhii ifitiin jecha dhuga'aatiin nu uume.

Dhage'anee Hujii Irra Oolchuu

¹⁹ Obboleeyyan tiyya ta jaalatantane, tana hubatuu qaddan! Nami martinuu dhage'iisaaf ka ariifate, dubbatiisaa fi aariisaaf ka hin ariifanne te'uu ti;

²⁰ sababille aariin namaa balchummaa Waaqaa hin fiddu.

²¹ Tanaaf battumma'aa fi bacatiisa hammeennaa mara ifi irraa balleessa'a; jecha lubbuu teessan fayyisiisaaf hunna qabu, ka isin keessatti dhaabame san gadhi laafumma'aan fudhadha'a.

²² Worra jecha hujii irra oolchu te'aa malee, worra dhage'u qofa teetanee ifi hin sobina'a.

²³ Nami jecha dhage'ee hujii irra hin oolchine ammoo, akka nama fuula ifii daaw'iti'iin ilaalu ti;

²⁴ inni ifi ilaalee deemeen duuba, yoosuma maan akka fakkaatu hin dedha.

²⁵ Ammoo nami Seera Waaqaa ka dhidhinna hin qanne, ka bilisa baasu hubatee ilaalu, ka ittille ossatu, ka dhage'ee hujii irra oolchuu fi ka hin deene hujii ifitiin ka eebbifame hin te'a.

²⁶ Nami, nama dhugeeffannaa qabu ifi seyee, arraba ifii hin eeganne ammoo ifi soba malee, dhugeeffannaan isaa gatii hin qaddu.

²⁷ Waaqa Abbaa duratti dhugeeffannaan qullitti'ii fi xurii hin qanne tana: rakkinna ijoollee abba'aa fi haadha hin qannee, dubartoota abbaan manaa irraa du'eelle gargaaraa, xurii biyya lafaa irralle'ee ifi eeggachu'u.

2

Nama Wol Caalchisuu Irraa Ifi Eeggachiise

¹ Obboleeyyan tiyya! Gootaa ulfinnaa keenna Yesuus Kiristoositti dhugeeffannaa eega qabaattane, nama wol hin caalchisina'a.

² Nami dureessi tokko qubee worqi'ii keyatee, woyaa dansaalle uffatee gara wolitti qabama keessanii yoo dhufe, namichi hiyyeessi woyaa cic-cittu'uulle yoo ol seene,

* **1:12 Gatii:** Kallacha

³ isin namicha woyaa dansaa uffate san ulfeessiisaan, «Ati addee dansaa tana tee'i» jettanee, namicha hiyyeessa saniin ammoo, «Ati achi dhaabbadhu yookiin as miila kiyya jala tee'i» yoo jettane,

⁴ odduu teessanitti nama wol caalchittanee, worra yaada hama'aan muru te'uu keessanii motii ree?

⁵ Obboleeyyan tiyya ta jaalatantane, dhage'aa! Waaqi akka isaan dhugeeffanna'aan dureeyyii te'anuu fi mootummaa inni worra isa jaalatanuuf waadaa gale san akka dhaalanuuf, worra biyya lafaatitti hiyyeeyyii te'ane filateeraa motii?

⁶ Isin ammoo worra hiyyeeyyii ulfinna dhooggitane; worri isin hakuucu, worri gara kora mura'aa isin harkisu dureeyyi'ii motii?

⁷ Maqaa dansaa isin ittiin waamantanu ka faanshessu isaanii motii?

⁸ Seera mootummaa Waaqaa akka Barreeffam Woyyichi, «Ollaa keeti akka ifi jaalattutti jaaladhu» jedhutti, yoo muummessitane dansaa gootane.

⁹ Nama yoo wol caalchittane ammoo cubbuu hujjan; akka yakkaamessa tokkootitti seerri isinitti mura.

¹⁰ Nami tokko seera kaan mara eegatee, tokkocha yoo balleesse, akka waan maraayyuu balleesseeitti yakki itti hin murama.

¹¹ Ka, «Hin gaarayyeeffatin» jedhettuu, «Hin ijjeesin» waan jedheef, ati yoo gaarayyeeffatuu dhaddelle, eega ijjeette yakkaamessa teeteerta.

¹² Akka worra seera bilisummaa kennu duratti dhikaatee muraa dhag-gatuu dubbadha'a, hujadhaalle'e.

¹³ Nama marartii hin qannetti, marartii malee itti hin muranti; marartiin muraa hin injifatti.

Dhugeeffanna'aa Fi Hujii

¹⁴ Obboleeyyan tiyya! Nami tokko, «Ani dhugeeffannaa qaba» jedhee, hujii dansa'aan dhugeeffannaa ifii yoo hin mudhisin, maan isaa baati? Dhugeeffannaan akkasii sun isa fayyisuu hin dandeettii?

¹⁵ Obboleeyyan yookiin obboleettoti, waan uffatanuu fi nyaatanu hin qanne yoo jiraatane,

¹⁶ isin keessaa nami tokko, waan le'ii isaaniitiif barbaachisu adoo hin kenniniif, «Nageyaan deema'a, hin boojjatina'a, quufa'a!» yoo jedheen, maan isaaniif baati?

¹⁷ Maarre dhugeeffannaan hujii dansaa hin qanne ta duute.

¹⁸ Nami tokko, «Ati dhugeeffannaa qadda; ani hujii dansaa qaba» yoo jedhe, ani, «Dhugeeffannaa teeti hujii irraa gargar baasiitii natti mudhisi; anille dhugeeffannaa tiyya hujii tiyyaan sitti mudhisa» hin jedhaan.

¹⁹ Ati Waaqi tokkochi akka jiru hin dhugeeffatta; dansaa goote! Durri-isotille tana hin dhugeessan, sodaataneelle hin hollatan.

²⁰ Namicha gowwa'a! Dhugeeffannaan huji'iin malee ta gatii hin qanne* akka teete beekiisaaf dhugaa itti barbaaddaa?

²¹ Abbaan keenna Abrahaam ilma ifii Yisihaq, addee ciincaan itti ciincef-famu irratti yennaa dhikeesse, huji'iinii motii ka balchoome?

²² Tanaan dhugeeffannaan isaa hujii isaa woliin hujataa akka turte, dhugeeffannaalle huji'iin akka muummotte hin dhaggituu?

²³ Barreeffam Woyyichi, «Abrahaam Waaqa dhugeeffate, dhugeeffannaan isaalle balchumma'atti laakkowante» jedhu muummowe; innille jaala Waaqaa jedhame.

²⁴ Nami huji'iin malee, dhugeeffannaa qofaan akka hin balchoonne hin dhaggitan.

* **2:20** Ta gatii hin qanne: Ta duute

²⁵ Akkasuma, Rahaabiin sagaagaltittiille yennaa worra Israa'elii ka ergamee dhufe san fudhattee, karaa dhibi'iin akka bayanu goote, hujii ifitiin balchoontee motii?

²⁶ Nafi hafuura[†] hin qanne ka du'e; dhugeeffannaan hujii hin qannelle ta duute.

3

Arraba Leenjisu

¹ Obboleeyyan tiyya! Isin keessaa nami hedduun barsiisota hin te'ina'a. Sababille nuuti worri barsiisota teene worra kaan caalaa muraa akka fudhannu hin beettan.

² Nuuti martinuu dokonkora hedduu goona; nami dubbii ifitiin hin dokonkorre, nama nafa ifii duudii toowatuu dande'u, nama miju'u.

³ Fardi akka nu'uuf ajajamu bixaala afaan keessa keenna; gara feene isa geessina.

⁴ Me hoboloo guddittii ilaala'a! Hoboloon guddoon adoo guddo'ootuu, qilleensa jabaalle'een adoo oofantuu, nami hoboloo oofu shaffisaa diqqaa tokkoon gara fedhe oofa.

⁵ Akkasuma, arrabille qoqoodama nafaa keessaa waan diqqaa tokko adoo te'eeruu, waan gugurdo'oon ifi jaja. Gongomaan guddaan ibidda diqqaa tokkoon attam akka gubatu hubadha'a!

⁶ Arrabille ibidda. Inni qoqoodama nafaa oddu'utti ka dhaggamu, biyya lafaa ta hammeenna ti; nafa duudii batteessa; akka ibidda qilee ibiddaa keessaa bayuulle ideensa le'ii teenna duudii hin guba; ifille'eef ibidda qile'eetiin gubata.

⁷ Nami bineensota adda addaa, sinbirroota, bineensota lafa irra lowu, bineensota bisaan keessaa leenjisu hin dande'a; leenjiseeralle'e.

⁸ Nami arraba leenjisu dande'u ammoo hin jiru; inni hadhaa du'aatiin ka guutamee fi hamaa hin toowatanne.

⁹ Nuuti arrabaan Waaqa Abbaa keenna galateessina, isumaanuu namoota fakkeenna Waaqaatiin dadamane abaarra.

¹⁰ Afaanuma tokkocha keessaa galataa fi abaarsi baya; obboleeyyan tiyya! Kun te'uu hin malle.

¹¹ Maddi tokkochi bisaan mi'owuu fi hadhowu hin maddaa?

¹² Obboleeyyan tiyya! Muki harru'uu midhaan ejersaa, muki woyni'iille midhaan harru'uu buusuu hin dande'aa? Akkasuma maddi horaa bisaan nami unu madduu hin dande'u.

Qarummaa Ol-gubba'aatii Fi Lafaa

¹³ Isin keessaa qarichaa fi hubataan eennu? Inni le'ii ifii dansa'aan, waan ifi gadi qabiisaa fi qaroomaan hujuun mudhisuu ti.

¹⁴ Gadhaa keessan keessatti hinaaffaa hadhoottu'uu fi ifi jaalachuu yoo qabaattane ammoo, ifi hin jajina'a! Dhugaa irralle'etti soba hin dubbatina'a!

¹⁵ Qarummaan akkasii tun ta lafaa, ta ayyaantummaa hin qannee fi ta durriisaa ti malee, ta ol-gubbaa irraa dhuttee moti.

¹⁶ Addee hinaaffa'aa fi ifi jaalatiis jirtutti hoga'aa fi waan hantuu maratti jira.

¹⁷ Qarummaan ol-gubbaa irraa dhuttu matooma qulqullitti'i; akkasuma nageellitti'i, qajeeltu'u, ifi kennitu'u, mararti'ii fi midhaan dansa'aan ta guutante; wol caalchisiisaa fi kijibille ta keessa hin jirre.

¹⁸ Worri nageya buusu, nageya facaasee, midhaan balchummaa'aa wolitti qabata.

[†] 2:26 Hafuura: Ayyaana

4

Biyya Lafaa Woliin Jaalomuu

¹ Lolaa fi falmiin odduu teessan jirtu, eessaa dhutte? Halchaa nafa keessan keessatti wol loltu irraa dhuttii motii?

² Isin waan tokko hin halchitan, ammoo hin dhaggattanu; tanaaf nama ijeettan. Jabaattaneelle woy halchitan, dhaggatiisaaf hin dandeettanu; tanaaf wol falmaa wol loltan. Waan hin daadimanneef, waan barbaaddanu hin dhaggattanu.

³ Yennaa daadimattanulle, gammada foonii irra oolchiisaaf, yaada hama'aan waan daadimattanuuf hin dhaggattanu.

⁴ Isin kolbaa Waaqaaf hin addatanne! Biyya lafaatiin jaalomuun diina Waaqaa akka nama gootu hin beettanu? Tanaaf nami jaala biyya lafaa te'uu halchu, diina Waaqaa hin te'a.

⁵ Yookiin Barreeffam Woyyichi, «Waaqi, ayyaana nu keessa keyeef hin hinaafa» yennaa jedhu, akkasumaan ka dubbatu isinitti fakkaataa?

⁶ Waaqi ammoo badhaadha irra caalu hin kenna; tanaaf Barreeffam Woyyichi,

«Waaqi worra kooru hin morma,

worra gad ifi qabuuf badhaadha hin kenna» jedha.

⁷ Maarre Waaqaaf ajajama'a; Seexana ammoo morma'a, innille isin baqata.

⁸ Gara Waaqaa dhikaadha'a, innille gara keessan hin dhikaata. Isin cubbaaleyyiin, harka keessan qulqulleeffadha'a. Isin worri yaada lamaa, gadhaa keessan qulleeffadha'a.

⁹ Laaleffadha'a, gadda'a, bowa'a! Kolli keessan gara gaddaa, gammadi keessan gara bowiisaa jijjiiramuu ti.

¹⁰ Goottaa duratti gad ifi qaba'a, innille ol isin hin qaba.

Akka Wolitti Hin Murre Ifi Eeggachiise

¹¹ Obboleeyyan tiyya, waan hantuu wol irratti hin dubbatina'a! Nami waan hantuu obboleessa irratti dubbatu yookiin obboleessa ifiititti muru, seera irratti hantuu dubbata, ittille hin mura; ati seera irratti yoo murte ammoo, nama seera irratti muru malee, nama seera hujii irra oolchuu moti.

¹² Ka seera baasuu fi murulle Waaquma tokkocha; ka fayyisiisaa fi balleessiisa dande'ulle isuma calla'a; ati ka namatti murtu eennu ree?

Ifi Jajuu Irraa Ifi Eeggachiise

¹³ Isin worri, «Adha yookiin boru qachaa akkasiitii fi akkasii dhandhee woggaa tokko achi turra, hin daddalanna, bu'aalle keessaa buufanna» jet-tanu, caqasa'a!

¹⁴ Isin waan boru te'u hin beettanu; jiruun teessan maan? Isin akka hurrii yennaa diqqo'oof mudhattee deebitee badduu ti.

¹⁵ Addee san, «Yoo Gootaan jedhee fi yoo jiraanne, kana yookiin san hin goona» jedhuu maltane.

¹⁶ Amma ammoo isin hin koortan, ifille hin jajjan; ifi jajjuun akkasii duudiin hantu'u.

¹⁷ Nami waan dansaa godhiisa adoo beekuu, hin goone, godhuu dhabiis isaa cubbuu itti teeti.

5

Ifi Eeggachiisa Dureeyyi'iif Kenname

¹ Amma isin dureeyyiille caqasa'a! Gaddi waan isinitti dhufaaruu, wiicci-fadha'aa bowa'a.

² Karri teessan alootteerti; woayaan teessanille bili'iin* nyaatanteerti.

³ Worqi'ii fi meetiin† teessan ciilteerti; ciilli isaanii kun isin irratti dhugaa hin baya, akka ibiddaalle foon nafa keessanii hin nyaata. Guyyoota gara muumme'ee kana keessatti karra wolitti qabattaneertan.

⁴ Caqasa'a! Worra fichaa keessan haamaa ooleef mindaan isin kaffaluu dhaddane isin irratti iyyiisatti jira; Gootaan Waan Mara Dade iyyansa isaanii dhage'eera.

⁵ Isin qanani'ii fi gammadaan lafa irra leetaneertan; guyyaa itti qalan-tanuuf ifi gabbifattaneertan.

⁶ Isin nama balchaa isin hin morminetti murtanee ijeettaneertan.

Rakkinna Keessatti Ossatuu

⁷ Obboleeyyan tiyya! Haga Gootaan deebi'ee dhufutti ossadha'a. Qonnaan bulaan tokko haga latti isaa bokkeya matoomaatii fi eege'ee dhaggatutti ossataa, midhaan gatii-qabeessa fichaan isaa kennu, akka inni eegatu ilaala'a.

⁸ Isinille akkasuma ossadha'a! Guyyaan Gootaan dhufu waan dhikaatteef, gadhaa keessan jabeeffadha'a.

⁹ Obboleeyyan tiyya! Akka isinitti hin muranne wolitti hin gungumina'a! Kunoo yennaan abbaan mura'aa dhufu geetteerti.

¹⁰ Obboleeyyan tiyya! Marroo rakkatiisaatii fi ossatiisaa, raagota maqaa Goota'aatiin dubbatane akka fakkeenfaatitti fudhadha'a!

¹¹ Worra ciniinnatee ossaa ture san, nuuti akka worra badhaadheetitti isaan ilaalla. Iyoob attam akka ciniinnatee osse dhageettaneertan; muum-mee irratti waan Gootaan godhe dhaggitaneertan; sababille Gootaan marara'aa fi gadhi-laafessa.

¹² Obboleeyyan tiyya! Waan mara caalaa hin kakatina'a! Ol-gubba'aan yookiin lafaan yookiin waan dhibiille'een hin kakatina'a! «Eetiin» teessan eeti, «Waawwoon» teessan waawwoo teetuu ti. Yoo akkas hin te'in, isinitti hin muranti.

Daadimata Dhugeeffanna'aa

¹³ Odduu teessan nami rakkatiisatti jiru jiraa? Inni daadimatu ti! Nami gammadeeru jiraa? Inni faaruu galataa faarfatu ti.

¹⁴ Odduu teessan nami dhibameeru jiraa? Inni jaarsolee wolde'a kiristaanaa waammatu ti; isaan maqaa Goota'aatiin zayitii issanee isaaf daadimatanuu ti.

¹⁵ Daadimannaan dhugeeffanna'aan godhantu dhibamaa hin fayyitti; Gootaalle dhibee irraa isa hin fayyisa; yoo cubbuu hujee jiraatelle araarri hin kennamaaf.

¹⁶ Tanaaf akka dhibee irraa fayyitanuuf, cubbuu teessan wolitti himadha'a, woliifille daadimadha'a! Daadimannaan nama balcha'aa hunnaametti'ii fi bu'aa qabeetti'i.

¹⁷ Eliyaas namuma akka keenfaatiiyyu; akka bokkeenni hin roonne yenna jabeesse daadimate, woggaa sadii fi ji'a jaa lafa sanitti bokkeenni hin roonne.

¹⁸ Yennaa inni deebi'ee daadimate ammoo, gubbaan bokkeya kennitee, latille midhaan baache.

¹⁹ Obboleeyyan tiyya! Isin keessaa nami tokko dhugaa irraa goreeruun, nami dhibiin dhuga'atti yoo isa deebise,

²⁰ ka nama cubbaalessa cubbuu irraa deebisu, lubbuu nama cubbaalessa du'a irraa fayyisee, cubbuu heddu'uufille akka inni araara dhaggatu akka godhe beekuu ti.

* 5:2 Bili'iin: Qooqqanna'aan † 5:3 Meetiin: Birriin sibiilaa 5:14 Mar. 6:13 5:20 1 Phex. 4:8

Ergaa Pheexroos Erge

Ta qaraa

Seensa

Ergaan Pheexroosii ta qaraa Kiristaanota ergaa tana keessatti, «Kol-baa Waaqaaf fowante» jedhamanu, ka biyya Asiyaa diqqittii gara kaabaa keessatti bittinnowaneef barreeffante. Yaadi guddaan ergaa tanaa, worra isii dubbifatu ka sababa dhugeeffanna'aatiif miidha'aa fi rakkoon irra geette jajjabeessiisa. Barreessaan Oduu Gammadaa ta Yesuus Kiristoosii, ta du'a isaa, du'aa ka'a isaatii fi waadaa deebi'ee dhufiisa isaa hintu akka qaabatanu godhiisaan isaan jajjabeessa. Inni akka isaan fakkeenaa jireenna Yesuus Kiristoosii ilaaliisaan, rakkoo ossataan fudhatanu yaadachiisa; kanumatti aansee, rakinni qulqullinna dhugeeffannaa isaanii akka haga ilaaluu fi «Guyyaa Yesuus Kiristoos mudhatu» gatii isaaniif malte akka fudhatanu hubachiisa.

Barreessaan rakkinna keessatti isaan jajjabeessiisa biratti, worri Kiristoos hordofu akka le'uu maletti akka le'anu worra dubbifatu yaadachiisa.

Haadhoo Dubbi'ii

Seensa1:1-2

Yaadannoo fayyisiisa Waaqaa1:3-12

Woyyumma'aan le'iisaaf gorsa kenname1:13–2:10

Yennaa rakko'oo waan Kiristaana irraa eeggatamu2:11–4:19

Ifi gad qabiisaa fi tajaajila Kiristaanaa5:1-11

Yaada buufataa5:1-11

¹ Ana Pheexroosii ergamaa Yesuus Kiristoosii irraa:

Worra Waaqaa fowantane ka biyya jirtanuu baatanee kutaa biyya Phonxoosiititti, Galaatiya'aatitti, Qaphadooqiya'aatitti, Asiya'aatii fi Bitaniya'aatitti bittinnootanee jirtanu,

² ka akkuma Waaqi Abbaan duraanuu karoofatetti filantanee, Yesuus Kiristoosiif ajajamiisaa fi dhiiga isaatiin qulqulloomiisaaf Ayyaana Woyyichaan woyyoontaneef:

Badhaadhii fi nageenni isiniif fakkanu.

Addii Jiraattuu

³ Waaqa Abbaa Goottaa keenaa Yesuus Kiristoosiitiif galanni te'u! Inni marartii ifii guddo'oon du'a keessaa ka'iisa Yesuus Kiristoosiitiin addii jiraattuu tanatti akka jiraannuuf haareya godhee nu uumateera.

⁴ Akkasuma inni karra guddoo hin banne, yookiin hin aloonne, yookiin hin dulloonne Ol-gubba'atti isiniif qopheesseera.

⁵ Kun isin worra karaa dhugeeffannaa fayyinna bara muumme'eetitti mudhatuuf qophowee jiruuf, hunna Waaqaatiin eegantanee jirtanuuf te'a.

⁶ Amma yennaa gabaaddu'uuf haga ilaallatama gara garaatiin gadditanulle, marroo waan kanaa guddoo gammada'a.

⁷ Worqiiin badduuyyuu, ibiddaan haga ilaallatanti; dhugeeffannaan teessan ammoo ta worqii caalaa gatii guddo'oo, ta dhuga'aa te'uu isi'ii mirkaneessiisaaf ilaallachaan tun isin dhaqqaddi. Achiin duuba guyyaa Yesuus Kiristoos deebi'ee mudhatu galata, ulfinnaa fi leelloo dhaggattan.

⁸ Isin isa dhagguu dhaddanulle isa hin jaalattan; isin amma isa dhagguu dhaddanulle, isatti dhugeeffattanee gammada gudda'aa fi ulfinna hagana jedhamee hin himanneen gammaddan.

⁹ Sababille fayyinna lubbuu teessanii, ka dhugeeffanna'aan eeggattanu fudhattan.

¹⁰ Raagoti badhaadha Waaqi isiniif kennu kana raagane, fayyinna kana akka maltetti qoranna'aa fi qu'annaa godhaneeran.

¹¹ Ayyaanni Kiristoosii ka isaan keessa jiru, rakkoo Kiristoos dhaqqadduu fi saniin duubatti ulfinna inni dhaggatu dursee waan isaanitti beessiseeruuf, yennaan tun yoomii fi attam akka muummottu qorqoraa turane.

¹² Raagoti tun isiniif malee, mataa ifitiif akka hin tajaajilin Waaqi isaanitti mudhiseera. Kun hunna Ayyaana Woyyicha Ol-gubbaa irraa ergameen karaa worra Oduu Gammadaa lallabuutiin isinitti himame. Waan kana ergantooti Waaqaatuu hubatiisaaf halchaneeran.

Woyyumma'aan Le'uu

¹³ Tanaaf, waan gootanuuf qalbii teessan qopheessa'a; worra ifi qabatu te'a'a; addii teessan guutuma guutu'utti badhaadha yennaa Yesuus Kiristoos mudhatu isiniif kennamutti godhadha'a.

¹⁴ Akka ijoollee ajajantuu te'aa malee, halchaa badduu durii ta adoo hin beekin leetanu hin hordofina'a.

¹⁵ Ammoo Waaqi isin waame woyyuu akkuma te'e, isinille waan gootanu duudi'in woyyuu te'a'a.

¹⁶ Barreeffam Woyyichi, «Ani woyyuu waan te'eef isinille woyyuu te'a'a» jedha.

¹⁷ Waaqa nama adoo wol hin caalchisin, nama maraafuu akka hujii isaatiitti muru «Abbaa» jettanee ka waantanu yoo teetane, biyya lafaa ta akka keessumma'aa irra jirtanu tanatti isa sodaataa le'a'a.

¹⁸ Jireenna abbootii teessan irraa isinitti tare, ka woy hin baane, waan badu ka akka meeti'in* yookiin worqi'iitiin akka hin wodamin, isinuu hin beettan.

¹⁹ Isin dhiiga Kiristoosii, ka gatii guddo'oo, ka akka dhiiga korbeessa komi'ii fi dhidhuu hin qanneetiin wodantaneertan.

²⁰ Inni biyyi lafaa tun adoo hin dadamin duraanuu Waaqaan fowamee, bara muumme'eetitti isiniif jedhee mudhifame.

²¹ Isin karaa isaatiin, Waaqa isa du'a keessaa kaasee ulfinna isaa kenne dhugeeffattane; maarre tanaaf dhugeeffanna'aa fi addiin teessan Waaqatti godhattane.

²² Isin dhuga'aaf ajajamiisaan ifi qulqulleessitane, worra dhibiille jaalala dhuga'aatiin jaalattaneertan; maarre gadhaa tokkochaan guddisa'aa wol jaaladha'a.

²³ Isin karaa jecha Waaqaa jiraata'aa fi bara baraan jiraatuutiin, sanyii baddu adoo hin te'in sanyii hin banne irraa lammoo dhalattaneertan.

²⁴ Sababille Barreeffam Woyyichi

«Nami foon uffate duudiin akka marraa ti;
ulfinni isaalle akka daraaraa badda'aa ti;
marri hin qoora; daraaraalle hin harca'a.

²⁵ Jechi Waaqaa ammoo haga bara baraa le'a.

Jechi Oduu Gammadaa ka isiniif lallabamelle kana» hin jedha.

2

Dhakaa Jiraata'aa Fi Kolbaa Woyyittii

¹ Yoona hammeenna duudii, maltummaa duudii, kijibummaa, hinaaffa'aa fi hamii duudii irraa ifi fageessa'a.

* **1:18 Meeti'in:** Birrii sibiilaatiin

² Akkuma daa'immaan reef dhalatte aanan barbaaddu, isinille gara fayyinnaa akka ittiin guddattanu aanan Ayyaanticha hin caamolamin* dharra'a'a.

³ Isin akka Gootaan arjaa te'e waan beettaneertanuuf tana hin gootan.

⁴ Maarre gara dhakaa jiraata'aa, gara Gootaa Yesuusii dhikaadha'a; Inni dhakaa namaan tuffatamee Waaqaan filatamee gatii guddoo qabu.

⁵ Isin hayyoota woyyuu te'uuf, ciincaa ayyaanaa ka karaa Yesuus Kiristoosiitiin Waaqa duratti fudhatama qabu dhikeessiisaaf, akka dhakaa jiraata'aa ijaarsa galma ayyaanaatiif te'a'a.

⁶ Barreeffam Woyyichi,

«Kunoo, dhakaa roga ijaarsaa ka filatamee fi ka gatii guddo'oo qachaa Xiyoonii keessatti hin dhaaba; nami isatti dhugeeffattu tokkolle hin qaanowu» jedha.

⁷ Isin worra dhugeeffattanuuf dhakaan kun dhakaa gatii guddo'ooti; worra hin dhugeeffanneef ammoo,

«Dhakaan worri mana ijaaru tuffate, dhakaa dhakaa maraa caalaa barbaadamu te'e» jedha.

⁸ Akkasuma Barreeffami Woyyichi dhibiin,

«Dhakaan nama gufachiisu, rassaa nama jissu hin te'a» jedha.

Isaan Jecha Waaqaatiif waan ajajamuu dhabaneef hin gufatan. Kun duraanuu waan isaaniif yaadameeru.

⁹ Isin ammoo sanyii fowante, hayyoota mooti'ii, kolbaa woyyittii, kolbaa Waaqaa teetanee, baasa hujii Waaqaa akka lalladdanuuf, inni dukkana keessaa gara ifa baasaa isin waame.

¹⁰ Tanaan qara isin kolbaa Waaqaatii moti; amma ammoo kolbaa isaa ti; tanaan qara isin marartii Waaqaa hin dhagganee, amma ammoo marartii isaa dhaggattaneertan.

Tajaajiltoota Waaqaa

¹¹ Obboleeyyan tiyya! Biyya lafaa ta akka ormaatii fi keessumma'aa irra leetanu tana keessatti, halchaa foonii ta lubbuu teessan aatu irraa akka fagaattanu isin magannifadha.

¹² Worri Yihudoota hin te'in akka isin hantuu godhaartanuutitti isin himatanulle, hujii dansaa teessan dhagganee guyyaa dhufa Waaqaa akka isa galateeffatanu, isaan wodhakka'atti amala dansa'aan le'a'a.

¹³ Goota'aaf jedha'aatii lafa tanatti worra baallii qabu maraaf: mootii moototaa ka baallii ol aantuu qabuuf,

¹⁴ yookiin bulchitoota biyyaa ka akka yakkaameyyii adabanuu fi worra dansaa godhanu akka galateeffatanuuf, mootii moototaa biraa ergamaneef ajajama'a.

¹⁵ Sababille Waaqi akka isin waan dansaa hujaa, haasowa worra gowwoole'ee afaan qabachiittanu barbaada.

¹⁶ Akka worra bilisaa, Waaqaaf garboolee te'aatii le'aa malee, bilisummaa teessan gollata waan hantu'uu hin godhatina'a.

¹⁷ Nama duudii ulfeessa'a; dhugeeffattoota jaaladha'a; Waaqa sodaadha'a; mootii ulfeessa'a.

Fakkeenna Rakkoo Kiristoosii

* 2:2 Aanan Ayyaantichi hin caamolamin: Barumsa Ayyaanticha qullicha

¹⁸ Isin worri garbooleen goottota teessaniif ulfinnaan ajajama'a; goottota dansa'aa fi qajeelota calla'aaf adoo hin te'in, hamaaleyyi'iifille ulfinnaan ajajama'a.

¹⁹ Waaqaaf jettanee, rakkoo sababa malee isin dhaqqaddu yoo ossitane, inni isin hin eebbisa.

²⁰ Hantuu gootaneef dikantanee yoo ossitane, galata maan qaddan ree? Ammoo dansaa gootanee rakkoo fudhattanee yoo ossitane, Waaqi isin hin eebbisa.

²¹ Waaqi waan kanaaf isin waame; Kiristoos ammoo isiniif rakkatee isa faana akka horddottanu fakkeenaa isiniif te'e.

²² Inni ijjumaa cubbuu hin hunye; sobille afaan isaa keessaa hin baane.

²³ Inni yennaa arraffame deebisee hin arrassine; yennaa rakkate, Waaqa muraa qajeeltu murutti addii godhate malee, isaan hin sossodaachinne.

²⁴ Akka nuuti cubbu'uuf duunee balchumma'aan leenu, Kiristoosinu cubbuu teenna nafa ifitiin fannoo irratti ba'ate; isin madaa isaatiin fayyitaneertan.

²⁵ Isin akka hoolee karaa irraa baddee joonjaa turtane; amma ammoo gara tisse'ee fi eegaa lubbuu teessanii deebitaneertan.

3

Haadhotii Manaatii Fi Abbootii Manaa

¹ Akkasuma isin haadhotiin manaa, abbootiin manaa teessan gariin, Jecha Waaqaatitti ka hin dhugeeffanne teetulle, isin waan tokko adoo hin dubbatin amala isin mudhittanuun booji'amanee dhugeeffatan fa'a te'a, isaaniif ajajama'a.

² Sababille isaan qulqullumma'aa fi amala dansaa keessan yennaa dhag-gane tana godhan.

³ Shaggummaan teessan waan alaan mudhatuun mataa dhowatiisaan, worqii naqatiisaan, yookiin woyaa gatii guddo'oo uffatiisaan ifi seefatiisaan hin te'in.

⁴ Ammoo shaggummaan teessan, ka ayyaanni qajeela'aa fi sirnaamessi Waaqa duratti gatiin isaa guddaa te'e keessa jiru, ka yennaa mara hin banne, seefata keessa nafa keessanii te'uu ti.

⁵ Bara durii haadhotiin manaa ta woyyoonte, ta addii ifii Waaqatti godhatte, abbootii manaa ifitiif ajajamaa ifi seefatteerti.

⁶ Isaan akkuma Saaraan Abrahaamiin, «Gootaa kiyya» jedhaa ajajanteef ajajamane. Isinille amma dansaa godhaa waan tokkolle yoo sodaatuu dhaddane ijoollee isi'ii ti.

⁷ Akkasuma isin abbootiin manaa, akka haadhotiin manaa teessan isin caalaa dadhaddu'uu isi'iif beeka'aatii woliin le'a'a; ulfinna isaaniif kenna'a; sababille isaan isin woliin badhaadha jiru'uu ka Waaqi kennu dhaggatan. Yoo akkas gootane wonni daadimata keessaniif gufuu te'aa hin jiraattu.

Dansaa Hujjisaan Rakkoo Fudhatuu

⁸ Muummee irratti, isin duudiin yaada tokkoon woliin gala'a; woliif dhiiga'a; akka obboleeyyanii wol jaaladha'a; arjoole'ee fi worra ifi gad qabu te'a'a.

⁹ Eebbisa'a malee, hammeenna hammeennaan, arraba arrabaan hin deebisina'a; sababille isin waan akkasii kana godhiisaan eebba akka dhaaltanuuf waammantane.

¹⁰ Barreeffam Woyyichi,
«Nami jiruu barbaaduu fi
bara dansaa dhagguu fedhu,
arraba ifii hantuu dubbatiisa irraa,

- hidhii ifii soba dubbatuu irraa dhooggatuu ti.
- ¹¹ Inni hammeenna irraa garagalee dansaa godhuu ti.
Nageya barbaaduu ti; hordofatuutille'e.
- ¹² Ilti Gootta'aa gara worra balchootaa ilaalti;
gurri isaalle daadimata isaanii hin dhage'a;
worra hantuu godhutti ammoo nyaara guura» jedha.
- ¹³ Waan dansaa godhiisaaf yoo hinaattane ka isin irratti hantuu huju eennu?
- ¹⁴ Waan dansaa hujiisaan rakkoo yoo fudhattanelle eebba hin dhaggattan; sossodaachisiisa namaa hin sodaatina'a; hin raafaminaalle'e.
- ¹⁵ Kiristoos ammoo akka Gootta'aatitti adda baasa'aatii ulfeessa'a. Marroo addii isin keessa jirtuu, nama isin gaafatu maraaf deebii kenniisaaf yennaa maraa ka qophoottane te'a'a.
- ¹⁶ Ammoo deebiin teessan qajeelumma'aa fi kabajja'aan teetuu ti. Ka Kiristoosii waan teetaneef, amala dansaa keessan worri hammeessee dubbatu hantuu dubbataneen akka qaanowanu wodanaa dansaa qabaadha'a.
- ¹⁷ Yoo fedha Waaqaa te'e, hantuu hujiisaan rakkinna fudhatu'uu mannaa, waan dansaa hujaa rakkinna fudhatuu woyya.
- ¹⁸ Kiristoos gara Waaqaa nu dhikeessiisaaf jedhee, adoo balchaa te'ee jiruu, nu worra balchummaa hin qanneef sababa cubbuu teennaatiif, yennaa maraaf yennaa takkatuu du'e. Inni fooniin du'ee ayyaanaan ammoo jiraataa te'e.
- ¹⁹ Inni Ayyaanuma saniin dhagee ayyaanota* mana hidhaa keessa jiranuuf lallabe.
- ²⁰ Ayyaanoti mana hidha'aa keessa jiranu sun, bara Nohi hoboloo guddittii ijaarrate adoo Waaqi ossataan isaan eegiisatti jiruu worra ajajama didane. Worri bisaan badi'ii irraa hafe, nama saddeet ka hoboloo guddittii keessa seene qofa.
- ²¹ Bisaan kun fakkeenna cuuphama amma isin fayyisuu ti; cuuphami kunille xurii nafaa dhiqatiisa adoo hin te'in, gaaffii wodanaa qullicha dhaggatiisaaf gara Waaqaa dhikaattu. Innille karaa du'aa fi ka'a Yesuus Kiristoosiitiin isin fayyisa.
- ²² Kiristoos amma gara ol gubba'aa dhagee maddii midda Waaqa Abba'aatitti tee'eera; ergantooti Waaqaa, worri baallii qabuu fi hunnooti, baallii isaa jala jiran.

4

Akka Fedha Waaqaa Le'uu

- ¹ Eega Kiristoos nafa ifitiin rakkate, isinille akka nama meya woraanaa hidhatee yaada kanaan jabaadha'a; sababille nami nafa ifitiin rakkatu cubbuu dhiiseera.
- ² Haganaa achi bara le'ii isaa ta lafa irraa, akka halchaa foonii adoo hin te'in akka fedhii Waaqaa le'uu qaba.
- ³ Tanaan gara barri isin akkuma worri Yihudoota hin te'in huju: baalagumma'aan, halchaa baddu'uun, machi'iin, akka malee nyaataa caaqu'uun, akka malee uniisaa fi waaqonfannaa farra teete waaqota dharaa waaqonsu'uun dabarsitane hin geya.
- ⁴ Amma lansooti teessan ta durii waan isin isaan woliin samaamuruu dhaddaneef maadeffatane, isin arrassan.
- ⁵ Isaan ammoo waan godhane kanaaf, Waaqa worra jiruu fi du'etti muriisaaf qophoweef, deebii mataa ifii hin kennan.

* **3:19** Ayyaanota: Lubbuu

⁶ Tanaaf Oduun Gammadaa worra du'anelle'eef lallabante; akka kanaan akkuma nama maratti murante nafa isaaniititti hin muranti; ayyaanaan ammoo akka Waaqi jiraatutti jiraatan.

⁷ Muummeen waan maraa dhikaatteerti; tanaaf akka daadimatiisa dan-deettanu, worra ifi qabatuu fi dammaqe te'a'a.

⁸ Jaalalli cubbuu hedduu waan golluuf, waan duudii caalaa gadhaa tokkoon wol jaaladha'a.

⁹ Adoo hin gungumin keessumummaa wol fudhadha'a.

¹⁰ Akka toowataa addatamaa kennansa Waaqaa ka adda addaa hujii irra oolchu tokkoo, tokko tokkoon keessan kennansa adda addaa ka Waaqa irraa fudhatanee wol tajaajila'a.

¹¹ Nami lallabu akka Jecha Waaqaatitti lallabuu ti; ka tajaajilu hunna Waaqi isaaf kenneen tajaajiluu ti; maarre Waaqi waan duudi'in karaa Yesuus Kiristoosiitiin hin galateeffama. Isaaf ulfinnii fi hunni baraa haga bara baraatitti te'u! Ameen.

Yennaa Rakko'oo Ossatuu

¹² Obboleeyyan tiyya! Rakkoon jadduun ta akka ibiddaa guddu haga isin ilaaliisaaf yoo isin dhaqqadde, wonni teetee hin beenne akka isin irra dhaqqaddeetitti hin baaseffatina'a.

¹³ Addee akkasii yennaa Kiristoos ulfinna ifitiin mudhatu gammadi keessan guddaa akka te'u, rakkoo isaa worra qoodamu waan teetaneef gammada'a.

¹⁴ Maqaa Kiristoosiitiif yoo arraffantane, Ayyaanni ulfinnaa, Ayyaanni Waaqaa waan isin irratti foorfatuuf isin worra badhaadhe.

¹⁵ Isin keessaa nami rakkoo fudhatu tokko, nama ijjeesee yookiin hatee yookiin yakkee yookiin waan isa hin galchine keessa galiisaan rakkoo hin fudhatin.

¹⁶ Kiristaana waan te'eef nami rakkinna fudhatu yoo jiraate, marroo maqaa Kiristoosiitiif Waaqa galateeffatuu ti malee, hin fokkifatin.

¹⁷ Guyyaan muraan jalqabantu geetteerti; muraan tun worra mana Waaqaa keessa jiru irratti jalqabanti. Eega muraan nu irratti jalqabantu teete, muummeen worra Oduu Gammadaa ta Waaqaatiif hin ajajanee maan te'itti ree?

¹⁸ Barreeffam Woyyichi,
«Nami balchaanuu eega rakko'oon fayyu teete,
nami Waaqa malee jiraatuu fi
cubbamaan attam te'uu jira ree?» jedha.

¹⁹ Maarre worri akka fedha Waaqaatitti rakkatu, ifi Abbaa dadaa addatama'atti magannee kennatee, waan dansaa ittuma hujuu ti.

5

Gorsa Worra Kolbaa Waaqaa Bulchuuf Kenname

¹ Ani akkuma isaanii jaarsi wolde'a Kiristaanaa, dhugaa bayaan rakkinna Kiristoosii, akkasuma ulfinna Kiristoosii ka mudhatu'uu jiru ka qoodamu, jaarsolee wolde'a kiristaanaa ta wodhakkaa teessan jirtu gorsa.

² Hoolee Waaqaa ta Waaqi akka tissitanuuf isinitti kenne hunnaan adoo hin te'in akka Waaqi barbaadutti, fedhii teessaniin tissa'a; bu'aa nama irraa dhaggatiisaaf joljoliisaan adoo hin te'in, halchaa tajaajiliisaaf qaddanuun te'uu ti.

³ Akkasuma hoolee saniif fakkeenaa te'iisaan malee, hoolee tika keessan jala jirtu irratti goottomiisaan hin te'in.

⁴ Yennaa tisseen guddaan mudhatu, kallacha ulfinnaa ka ijjumaa hin banne hin fudhattan.

⁵ Akkasuma isin dargaggooti jaarsole'eef ajajama'a. Isin martinuu ifi gad qabiisa akka woya'aa uffadha'aatii wol tajaajila'a. Barreeffam Woyyichi, «Waaqi worra kooru hin morma; worra gad ifi qabuuf ammoo badhaadha hin kenna» jedha.

⁶ Maarre Waaqi yennaa ifi murteessetti akka isin ol qabu, harka Waaqa hunnaamessaa jalatti ifi gad qaba'a.

⁷ Waan Waaqi isiniif yaaduuf, waan isin yaachisu duudii isa irratti gata'a.

⁸ Gumeeffadha'a; dammaqa'a! Diinni keessan Seexanni, akka neenqa waan liqinsu barbaadee dhangaa dhowuu, adaala keessan garmaama.

⁹ Obboleeyyan teessan ta biyya lafaa duudii keessa jirtu, rakkoo akkasii akka fudhatu beeka'aatii, dhugeeffanna'atti jabaadha'aatii Seexana morma'a.

¹⁰ Yennaa diqqoo rakkattaneen duuba ammoo, Waaqi abbaan badhaadha duudi'ii, ka karaa Kiristoosiitiin ulfinna isaa ka bara baraa akka goodan-tanuuf isin waame, inninuu akka duriititti isin deebisee, isin utubee, isin jabeessee hin hundeessa.

¹¹ Hunni bara baraa haga bara baraa isaaf teetu! Ameen.

Nageya Muumme'ee

¹² Ani karaa Silwaanosi akka dhugeeffataa addatama'aatitti laakkowuutiin ergaa gabaadduu tana isiniif barreesseera; ani isin gorsiisaa fi kun badhaadha Waaqaa dhugicha akka te'e dhugaa bayiisaaf jedhee barreesse. Badhaadha Waaqaa kanatti jabaadha'aa dhaabbadha'a.

¹³ Wolde'i kiristaanaa ka biyya Baabilonii keessa jiru, ka akkuma keessan filame nageya isinii dhaama; ilmi kiyya Maarqoosille nageya isinii dhaama.

¹⁴ Jaalala kiristaanumma'aatiin wol sungataa nageya wol fuudha'a.

Nageenni isin worra ka Kiristoosii teetane maraaf te'u.

Ergaa Pheexroos Erge Ta Lammeesso'oo Seensa

Ergaan Pheexroosii ta lammeesso'oo, kiristaanota durii ka lafa adda addaa jiranuuf barreeffante. Yaadi guddaan ergaa tanaa, hujii badduu barsiisota dharaatii fi jiruu baalagumma'aa ta barsiisa isaanii irraa dhuttu mormiisa. Rakkoo kaate tanaaf wonni fala te'u, karaa barumsa worri Yesuus ila ifitiin dhaggee fi inni barsiisuun gurra ifitiin dhage'e dabarseetiin, marroo Waaqaatii fi Goottaa Yesuus Kiristoosii beekkumsa qabatamaa te'e dhaggatiisa. Barreessaan kitaaba kanaa, keessumattuu barsiisa dharaa worra Kiristoos deebi'ee hin dhufu jedhuu irratti xiyyeeffateera. Inni waan kana ilaalchisee yennaa dubbatu, «Deebiin Kiristoosii wonni turtuuf, waan Waaqi nami duudiin cubbuu irraa akka deebi'u malee, nami tokkolle akka badu hin barbaanneef» jedha.

Haadhoo Dubbi'ii

Seensa1:1-2

Waamamiisa Kiristaanaa1:3-21

Barsiisota dharaa2:1-22

Deebi'ee dhufiisa Kiristoosii3:1-18

¹ Ana Simoon Pheexroosii, tajaajila'aa fi ergamaa Yesuus Kiristoosii te'e irraa:

Worra karaa balchummaa Waaqa keenfaatii fi fayyisaa keenna Yesuus Kiristoosiitiin, dhugeeffannaa gatii guddo'oo, tama akka nuuti dhaggannee dhaggattaneef:

² Waaqaa fi Goottaa Keenna Yesuus Kiristoos beekiisaan, badhaadhaa fi nageenni isiniif fakkanu.

Waamichaa Fi Filiisa Waaqaa

³ Waaqa ulfinnaa fi dansummaa ifitiin nu waame beekiisaan, hunni Waaqummaa isaa, waan jiruu teennaa fi ayyaantummaa dhuga'aatiif* nuu barbaachisu duudii kenniteerti.

⁴ Ulfinnaa fi dansummaa isaatiin, waadaa isaa ka akka malee gudda'aatii fi ka gatii gudda'aa dhagganneerra; karaa waan kanaatiin, sababa halchaa baddu'uutiin ta kaate, badii biyya lafaa keessa jirtu jalaa baatanee, amala Waaqumma'aa worra qoodamu teetaneertan.

⁵ Sababa kanaaf, dhugeeffannaa irratti dansummaan akka dabalantu, dansummaa irratti beekkumsa,

⁶ beekkumsa irratti ifi qabatiisa, ifi qabatiisa irratti ciniinnatanee ossiisa, ciniinnatanee ossiisa irratti nama Waaqaa te'iisa,

⁷ nama Waaqaa te'iisa irratti, akka obboleeyyanii woliif yaadiisa, akka obboleeyyanii woliif yaadiisa irratti jaalala nama maraa qabaadha'a.

⁸ Wonna kun isin keessa jiraattee heddataa yoo deente, Goottaa keenna Yesuus Kiristoos beekiisaan, akka isin worra woy hin baanee fi midhaan hin buunne akka hin teene isin hin eega.

⁹ Nami waan kana hin qanne ammoo, nama fagoo hin dhagginee fi balla'a; inni cubbuu durii irraa qulloomu ifi dedheera.

¹⁰ Tanaaf obboleeyyan tiyya! Waamamiisaa fi filamiisa keessan mirka-neessiisaaf, worra caalchittanee dharraatanu te'a'a; tana yoo gootane dhugeeffannaa teessan irraa ijjumaa hin jiddanu.

* 1:3 Ayyaantumaa dhuga'aatiif: Nama Waaqaa akka teenu

¹¹ Akka kanaan, gara mootummaa Gootaa keenfaatii fi fayyisaa keenna Yesuus Kiristoosii, ta bara baraatitti akka galtanu middi guutuun isiniif hin kennama.

¹² Maarre isin amma waan kana beettanee, dhugaa qabattaneen jabaatanee jiraattanulle, ani yennaa maraa waan kana isin yaadachisiisa hin lakkisu.

¹³ Ani haga jiruu keessummumma'aa tanaan jiru, yaada keessan dammasuun kiyya sirrii te'ee natti mudhata.

¹⁴ Sababille Gootaan keenna Yesuus Kiristoos akka natti mudhisetti jiruu lafa tanaa dafee lakkisee akka deemu hin beeka.

¹⁵ Ani deemeen duubale'etti, waan kana duudii akka isin yennaa mara qaabattanu godhu'uuf hin jabaadha.

Dhugaa Baatota Ulfina Kiristoosii Ila Ifitiin Dhaggite

¹⁶ Nuuti hunnaa fi deebi'ee dhufiisa Gootaa keenna Yesuus Kiristoosii yennaa isinitti beessinne, guddinna isaa iluma teennaan dhaggineeti malee, mammaassa beekkumsa namaatiin dadame irratti hundoonneetii moti.

¹⁷ Inni qoonqoon, «Kun Ilma kiyya ka ani jaaladhu, ani isatti guddoo gammadeera» jettu ulfinna gudda'aan yennaa dhutte, Waaqa Abbaa irraa guddinnaa fi ulfinna fudhateera.

¹⁸ Yennaa isa waliin gaara woyyicha gubbaa jirru, nuutinu qoonqoon tun ol-gubbaa irraa dhuttuun dhageenneerra.

¹⁹ Maarre dubbiin raagoti dubbatane irra caalaa nuu mirkanootteerti. Isin haga boruun dayya'ee bakkalchi ganamaa gadhaa keessan keessatti bawutti, dubbii tana akka ifa addee dukkanaatitti ifuuf xiyyeeffannaa kennitanu, dubbii raagoti dubbatte tanaaf yoo xiyyeeffannaa kennitane dansaa gootan.

²⁰ Waan duudi'iin dura, dubbii raagaa ta Barreeffama Woyyicha keessa jirtu, eennulle yaada ifitiin hiikiisaaf akka hin dandeenne hubatuu qaddan.

²¹ Sababille dubbiin raagaa worra Ayyaana Woyyichaan sooreffameen Waaqa irraa dhutte malee, ijjumaa fedha namaatiin hin dhunne.

2

Barsiisota Dharaa

¹ Akkuma tanaan gara raagoti dharaa kolbaa oddu'utti ka'ane, barsiisoti dharaa isin oddu'utti hin ka'an. Isaan akka barsiisi dharaa ka badii fidu dhokaataan babadhatu godhan; Gootaa isaan wodelle mormatane, badii ariifattuu ifi irratti fidan.

² Namooti hedduun karaa isaanii fokkisiisaa hordofan; waan isaan godhanuun ta kaate karaan dhuga'aa hin arraffama.

³ Barsiisoti dharaa tun joljolummaa ifitiin mammaassa ifuma keessaa fuudhaa dubbataa isin irraa nyaatan. Muraan bara duriitiin jalqadde isaanii qophootteerti. Badiin isaaniille rattee hin jirtu!

⁴ Waaqi yennaa ergantooti isaatu cubbuu hujane, isaan gad darbatee, boolla qilee dukkanaa keessatti wodaroo sibiilaatiin hidhamanee, guyyaa mura'aatiif akka eegamanu godhe malee, isaan hin mararre.

⁵ Akkasuma, Inni biyya lafaa ta durii, ta namoota Waaqa malee le'anuu irratti bisaan badi'ii fidee, Nohii waan balchumma'aa lallabe qofa, namoota dhibii torba waliin hambure malee, isii hin mararre.

⁶ Waaqi waan worra Waaqa malee le'u irratti dhufuuf akka fakkeenaa te'uuf, qachoota Sodoomiitii fi Gomora'aatitti muree ibiddaan balleessee daadhaa godhe.

⁷ Inni Looxii balchicha, hujii fokkisiittu worra seera malee le'uutiin farraa le'u ammoo hambureera.

⁸ Namichi balchaan sun yennaa odduu isaanii le'u hujii isaanii ta seera male'ee, ta dhagguu fi dhage'uun guyyuma guyya'aan lubbuun isaa balchittiin farraa turte.

⁹ Maarre Gootaan, namoota Waaqaa haga ilaalcha jalaa attam akka baasu, worra jalloota ammoo haga guyyaa mura'aatitti attam akka adabama jala tursu hin beeka;

¹⁰ keessumattuu worra halchaa badduu fedha foon ifii hordofuu fi worra baallii Waaqaa jibbu guyyaa mura'aatiif eega.

Barsiisoti dharaa tun worra sodaan keessa hin jirree fi koorameeyyii waan te'aneef, dada ulfinnaa ta ol-gubba'aa hin arrassan malee hin ulfeessanu.

¹¹ Ergantooti Waaqaa, barsiisota dharaa tana caalaa hunnaa fi baallii qabaatanulle, Gootaa duratti dubbii arrabaatiin isaan hin himatanu.

¹² Barsiisoti dharaa tun ammoo waan ifiif hubatuu dadhabane arrassan; isaan akka bineensa duuddittii le'uutii fi yaadee wo gargar hin baannee, ka qabamu'uu fi ijjeefamu'uuf dhalatee ti; akkuma bineensi sun badu, isaanille ijjumaa hin badan.

¹³ Isaan hantuu tolchaneef hantuu dhaggatan. Isaan ila guyya'aatiin halchaa nafa ifii guutatiisaaf waanuma fedhane godhaa gammadan; yenna nyaataaf isin woliin waamamane, isaan worra hujii isaanii maltitti'in fokkisiisuu fi qaanessu.

¹⁴ Iltii isaanii yennaa duudii halcha'aan gara gaarayyeeffataa ilaalti; halchaan isaanille cubbuu hujiisa irraa dheebuu hin baatu. Namoota dadhaboolee wollaalchisanee tiyyoo ifiititti galfatan. Qalbiin isaanii joljoliisa baratteerti. Isaan abaarsa Waaqaa jala jiran!

¹⁵ Isaan karaa qajeelaa dhiisanee, karaa Bala'aamii ilma Be'orii ka waan hantuu hujiisaan beesee dhaggantu jaalatuu faana goranee dokonkora-neeran.

¹⁶ Inni ammoo yakkaa ifitiif xixame. Harreen dubbatuu hin dandeenne qoonqoo namaatiin dubbattee maraattummaa raagichaa dhooggiteerti.

¹⁷ Worri akkanaa kun akka bisaan madda gogeetii fi duumensa bubbe'een oofamuu ti; dukkanti dimmille isaan eegatti.

¹⁸ Isaan ifi saadaa dubbii gara hin qannelle dubbatiisaaf, halchaa badduu fedha fooniitiin, worra dokonkora keessa le'anu keessaa reefuu baqatanee dhufane sossobaa tiyyoo ifii keessatti galchan.

¹⁹ Adoo ifiifuu garbummaa badi'ii jala jiranuu, worra kaaniin ammoo bilisa baatan jedhaa, addii kennaniif; sababille nami tokko waan isaaf goottome maraaf garba.

²⁰ Gootaa keenna fi fayyisaa keenna Yesuus Kiristoos beekiisaan, batummaa biyya lafaa jalaa bayaneen duuba, deebi'anee itti qabamanee yoo mowamane, akki isaan itti le'anu ka duubaa ka duraa caalaa itti hammaata.

²¹ Karaa balchumma'aa beekaneen duuba, ajaja woyyicha isaaniif kenname beekanee, addee irraa deebi'anu adoo duruu beekuu dhabanee woyya.

²² Mammaassi dhugichi, «Sareen diddiga ifiitittuu deebiti» jedhu, akka-suma «Booyeen dhiqatte dhoqqee keessatti gangalatiisaaf deebiti» jedhu isaan irratti te'eera.

3

Waadaa Dhufiisa Goota'aa

¹ Jaalota tiyya! Ergaan ani amma isiniif barreessiisatti jiru tun, ta lammeesso'oo ti. Waan kana qaabatiisaan yaada qajeelaa akka qabaattanuuf, isin kakkaasiisaaf jedhee, ergaa lamaanuu isiniif barreesse.

² Kanaan dura jechoota raagoti dubbatanee fi ajaja Gootta'aa fi Fayyisaa keennaa, ka karaa ergantoota isin tajaajiltuutiin kenname akka qaabattanu barbaada.

³ Waan duudi'iin qara, guyyoota muumme'eetitti worri shasheessuu fi worri halchaa badduu ifii hordofu shasheessaa akka dhufu hubatuu qaddan.

⁴ Isaan, «Yesuus deebi'ee akka dhufu waadaa galeeraa motii? Inni meetree? Haguma abbootiin teenna ta durii duuteenuu jalqabee, wonni duudiin jalqaba dadaatiin jalqaddee akkuma jirtu jirti!» jedhan.

⁵ Isaan akka bara heddu'uun duratti, ol-gubbaan jecha Waaqaatiin dadantee fi akka latti bisaan irraa fi bisaaniin hujante adoo beekanu akka hin beennee te'an.

⁶ Biyyi lafaa ta yennaa san jirtulle, bisaaniin liqinfantee badde.

⁷ Ol-gubba'aa fi latti amma jirtu tun ammoo, akka ibiddaan badanuuf, haga guyyaan mura'aatii fi badiin worra Waaqa malee le'uu geettutti, jechuma kanaan eegaman.

⁸ Jaalota tiyya, waan tokko hin dedhina'a! Goottaa biratti guyyaan tokko akka woggaa kumaa ti; woggaan kum akka guyyaa tokkoo ti.

⁹ Akka namooti gariin tura seyanutti Gootaan waan waadaa gale muummessiisaaf hin turu. Ammoo nami duudiin cubbuu irraa akka deebi'uuf malee, nami tokkolle akka badu waan hin barbaanneef, isiniif ossa.

¹⁰ Guyyaan Gootta'aa ammoo akka hattu'uu dedha dhufa; guyyaa san ol-gubbaan qoonqoo guddo'oon dhidhinti; dadi ol-gubba'aalle ibiddaan gubatee baddi; latti waan isii irra jiru duudii woliin hin baddi.

¹¹ Wanni kun duudiin akka kanaan ta baddu yoo teete, isin attam le'iisaaf maltane ree? Isin woyyumma'aa fi Waaqaaf ifi kenniisaan le'iisa qaddan.

¹² Yoona worra guyyaa dhufa Waaqaa dharra'aan eegattanuu fi worra akka inni ariifatee dhufu hujanu te'a'a. Gaafa ol-gubbaan ibiddaan gubatee baddu, dadi marti o'aan hin baxxi.

¹³ Nuuti ammoo akkuma inni waadaa nu'uuf galetti, ol-gubbaa haareya, addee hujii balchumma'aa itti hundeefantu san hin eeganna.

¹⁴ Tanaaf jaalota tiyya! Waan kana adoo eegattanuu, fuula Waaqaa duratti worra xuri'ii fi komii hin qanne teetanee jirtanuun, akka nageyaan isin dhaggu jabaadha'aa le'a'a.

¹⁵ Ossiis Goottaa keennaalle akka isin fayyitanuuf akka te'e beeka'a! Akkasuma obboleessi keenna jaalatamaan Phawuloosille qaruu Waaqi isaaf kenneen tanuma isiniif barreesse.

¹⁶ Inni ergaa ifii duudii keessatti marroo dubbii tanaa akkuma kana barreesseera. Ergaa isaa keessatti wonni tokko tokko ka hubatiisaaf nama dhibu jira. Worri wollaala'aa fi afaan lama dubbatu akkuma Barreeffama Woyyicha dhibii dassee hiiku, waan kanalle daddassa. Maarre isaan badii ifi irratti fidan.

¹⁷ Isin ammoo, jaalota tiyya! Waan kana waan duruu beettanuuf dokonkora worra jalliye'eetiin harkifantanee ijjanoo teessan jadduu irraa akka hin banne, ifi eegadha'a.

¹⁸ Ammoo badhaadhaa fi beekkuma Gootta'aa fi Fayyisaa keenna Yesuus Kiristoosiitiin ittuma guddadha'a. Ammaa fi haga bara baraa ulfinni isaaf te'u! Ameen.

Ergaa Yohaannis Erge Ta Qaraa Seensa

Ergaan Yohaannisii ta qaraa yaada jajjaba lama qaddi. Isaanille worri dubbifatu Waaqaa fi Ilma isaa Yesuus Kiristoos woliin tokkummaa akka qabaatu jajjabeessiisaa fi tokkummaa tana balleessiisaaf ka dande'u barumsa dharaa irraa akka fagaatanu ifi eegachisiisa. Yennaa san barumsi dharaa ka burqu biyya lafaa tana woliin qunnamtii godhamuun waan te'eef Ilmi Waaqaa Yesuus ijumaa nama te'iisaaf yookiin amala namummaa'aa qabaatiisaaf hin dande'u ka jedhu. Barsiisoti sun «Fayyinna jechuun le'ii biyya lafaatiif yaaduu irraa bilisa bayiisa» jedhan; kana wolille'een, «Amala dansummaa'aa fi nama dhibi'iif jaalala mudhisuun fayyinna woliin ijumaa qunnamtii hin qabu» jedhan.

Barreessaan barumsa kana mormiisaan Yesuus Kiristoos nama guutu'u, worri Yesuusitti dhugeessuu fi worri Waaqa jaalatu maraa wol wolille jaalachuu qaba jedhee gorseera.

Haadhoo Dubbi'ii

Seensa1:1-4

Ifaa fi Dukkana1:5–2:29

Ijoollee Waaqaatii fi Ijoollee Durriisaa3:1-24

Dhuga'aa fi Dhara4:1-6

Dirqama Jaalalaa4:7-21

Dhugeeffannaa Injifattu5:1-21

Jecha Jiru'uu

¹ Marroo jecha jiru'uu ka jalqabaa jalqabee jiruu, ka gurra keennaan dhageenne, ka ila teennaan dhaggine, ka ilaallee fi ka harka keennaan qaqqannee isiniif barreessina.

² Jiruun tun mudhifanteerti; nuutille dhaggineerra, dhugaalle hin baana. Jiruu bara baraa ta Abbaa woliin turtee, nu'utti mudhifante tana isinitti hinna.

³ Isinille nu woliin tokkummaa akka qabaattanuuf, waan dhagginee fi waan dhageenne isinitti hinna; tokkummaan teennalle Abba'aa fi Ilma isaa Yesuus Kiristoos woliin.

⁴ Gammadi keenna guutuu akka te'uuf tana barreessina.

Waaqi Ifa

⁵ Ergaan nuuti isa irraa dhageennee isinitti hinnu, «Waaqi ifa; dukkanti isa keessa ijumaa hin jirtu» ta jettu tana.

⁶ Waaqa woliin tokkummaa qanna jedhaa, dukkana keessa yoo deddeebine hin sonna; dhugaan nu keessa hin jirtu.

⁷ Ammoo akkuma inni ifa keessa jiru, nuutille ifa keessa yoo deddeebine woli woliif tokkummaa qanna; dhiigi Ilma isaa ka Yesuusii, cubbuu teenna mara irraa nu qulleessa.

⁸ Cubbuu hin qannu yoo jenne ifi sonna; dhugaalle nu keessa hin jirtu.

⁹ Cubbuu teenna yoo Waaqatti dhugaa baanne inni addatama'aa fi qajee-laa* waan te'eef cubbuu teenna nu'uuf hin araarama; jalluu teenna mara irralle'ee nu hin qulleessa.

¹⁰ Nuuti cubbuu hunyee hin jirru yoo jenne, Waaqa dharaamessa goona; jechi isaalle nu keessa hin jiru.

2

Kiristoos Wobii Keenna

¹ Ijoollee, akka isin cubbuu hin hunyeef tana isiniif barreessa; eennulle cubbuu yoo huje ammoo, wobii Abbaa biraa qanna; innille Yesuus Kiristoosii balchicha.

² Inni woreega gumaa cubbuu teennaa ti; cubbuu biyya lafaa duudi'iif malee, cubbuu teenna calla'aaf moti.

³ Yoo ajaja isaatiif ajajanne, Waaqa beekiisa keenna hin beenna.

⁴ Nami, «Ani isa beeka» jedhaa, ajaja isaatiif hin ajajanne dharaamessa; dhugaalle isa keessa hin jirtu.

⁵ Nami jecha Waaqaatiif ajajamu ammoo, jaalaltiin inni Waaqaaf qabu guutu'u. Isaan jiraatuu keenna tanaan beenna.

⁶ Nami «Waaqaan jiraadha» jedhu, akka Yesuus le'e le'uu qaba.

Ajaja Haareya

⁷ Jaalota tiyya! Ani ka isiniif barreessaaru, ajajuma dullacha dur jalqabaa jalqaddanee isin qaddanu san malee, ajaja haareyaa moti. Ajaji dullachi jechuma isin dhageettane.

⁸ Te'uu malee, dukkanti dabariisatti, ifi dhugichi ifiisatti waan jiruuf, Kiristoosii fi isin biratti dhugaa ka te'e, ajaja haareya isiniif barreessa.

⁹ Nami, «Ani ifa keessa jira» jedhaa obboleessa ifi jibbu, ammalle dukkanuma keessa jira.

¹⁰ Nami obboleessa ifi jaalatu ifa keessa le'a; wonni nama gufachiisulle isa keessa hin jiru.

¹¹ Nami obboleessa ifi jibbu ammoo dukkana keessa le'a, dukkana keessa ideema, dukkantille ila isaa waan qaddeef gara itti ideemiisatti jiruuyyu hin beeku.

¹² Ijoolle! Cubbuu teessaniif maqaa Kiristoosiitiin araarri waan kennameef isiniif barreessa.

¹³ Abbooti'i! Ka jalqabaa jalqabee jiru waan beettaneertanuuf isiniif barreessa. Dargaggoota! Hamaalessa* waan injifattaneef isiniif barreessa.

¹⁴ Ijoolle! Abbaa waan beettaneef isiniif barreessa. Abbooti'i! Ka jalqabaa jalqabee jiru waan beettaneef isiniif barreessa. Dargaggoota! Jajjaba waan teetaneef, jechi Waaqaalle isin keessa waan jiruu fi hamaalessa waan injifattaneef isiniif barreessa.

Biyya Lafaa Hin Jaalatina'a

¹⁵ Biyya lafaa yookiin waan biyya lafaa hin jaalatina'a; nama biyya lafaa jaalatu, jaalaltiin Waaqa Abba'aa isa keessa hin jirtu.

¹⁶ Wonni biyya lafaa keessa jiru maraa: halchaan foonii, halchaan ilaatii fi waan qabanuun kooruun†, biyya lafaa irraa dhutti malee, Waaqa Abbaa irraa hin dhuttu.

¹⁷ Biyyi lafaatii fi halchaan isi'ii marti hin tarti; nami fedhii Waaqaa muummessu ammoo haga bara baraa le'a.

Ka Kiristoos Mormu Irraa Ifi Eegadha'a

¹⁸ Ijoolle! Saatiin tun ta muumme'ee ti. Ka Kiristoos mormu akka dhufu kanaan duraa dhageettaneertan; ammumaayyu worri Kiristoos mormu

hedduun dhufeera. Maarre akka saatiin muumme'ee geette nuuti tanaan beenna.

¹⁹ Isaan nu keessaa bayane malee, keennaa moti; adoo keenna te'anee sila nu'uma woliin jiraataniyyu. Isaan ammoo nu lakkisane deemiisaan keenna te'uu dhabuu isaanii mudhisane.

²⁰ Isin ammoo Kiristoos Ayyaana Woyyichaan muudeera; waan maraa isin martinuu hin beettan.

²¹ Isin dhugaa beekuu dhaddaneef adoo hin te'in, dhuga'aa fi dhugaa keessaa dharti akka hin baane waan beettanuuf isiniif barreessa.

²² Yesuus Masihi moti jedhee ka mormatu malee, dharaamessi eennu ree? Ka Abba'aa fi Ilma mormatu kun mormattuu Kiristoosii ti.

²³ Nami Ilma mormatu Abbaa hin fudhatu; nami Ilma dhugeessu Abbaalle hin dhugeessa.

²⁴ Wonni isin jalqabaa jalqaddanee dhageettane gadhaa keessan keessa jiraattuu ti! Wonni isin jalqabaa jalqaddanee dhageettane gadhaa keessan keessa yoo jiraatte, isinille Ilmaa fi Abba'aan hin jiraattan.

²⁵ Addiin inni nu'uuf kenne tun jiruu bara baraa ti.

²⁶ Marroo worra isin dokonkorsuutiif, ani tana isiniif barreessa.

²⁷ Ayyaanni‡ isin Kiristoos irraa fudhattane ammoo isin keessa hin jiraata; inni waan isin barsiisuuf, eennulle akka isin barsiisuuf hin barbaachisu. Inni waan mara isin hin barsiisa; wonni inni barsiisulle dhuga'a, dharti keessa hin jirtu. Maarre akkuma Ayyaanni Woyyichi isin barsiisetti Kiristoosiin jiraadha'a!

²⁸ Yoona, ijoolle! Yennaa Kiristoos mudhatu sodaa malee akka jiraannuu fi guyyaa dhufa isaa akka hin fokkifanne isaan jiraadha'a!

²⁹ Akka inni balchaa te'e yoo beettane, nami balchummaa huju maraa ilma Waaqaa akka te'e hin beettan.

3

Ijoollee Waaqaa

¹ Ijoollee Waaqaa jedhannee akka waammannuuf, Abbaan attam gud-disee akka nu jaalate ilaala'a! Maarre nuutille ijoollee isaa ti. Biyyi lafaa Waaqa waan hin beenneef, nu hin beettu.

² Jaalota tiyya! Nuuti ijoollee Waaqaa ti; duuba maan akka teenu haga ammaatitti beekkamee hin jiru. Te'uu malee yennaa Kiristoos deebi'ee dhufu* akkuma inni jiruun waan isa dhagginuuf, akka isaa akka teenu hin beenna.

³ Nami Kiristoositti addii tana qabu mara, akkuma Kiristoos qulqullichaa ifi hin qulqulleessa.

⁴ Cubbuun seera balleessiisa waan teeteef, nami cubbuu huju mara seera Waaqaa balleessee yakka.

⁵ Kiristoos cubbuu teenna balleessiisaaf akka dhufee fi ifi ammoo akka cubbuu hin qanne isin hin beettan.

⁶ Nami Kiristoosiin le'u cubbuu hin huju; nami cubbuu huju isa hin dhaggine, yookiin isaa hin beenne.

⁷ Ijoolle! Eennulle me isin sobuu ti! Akkuma Kiristoos balchaa te'e, nami balchummaa huju balcha'a.

⁸ Durriisi jalqabaa jalqabee cubbuu waan hujuuf, nami cubbuu huju maraa ilma Durriisaa ti. Ilmi Waaqaa hujii Durriisaa balleessiisaaf mudhate.

‡ 2:27 Ayyaanni: Muudaan * 3:2 Deebi'ee dhufu: Mudhatu

⁹ Nami Waaqa irraa dhalate adabi† Waaqaa isa keessa waan jiraatuuf cubbuu hin huju, hujiisaafille hin dande'u.

¹⁰ Nami balchummaa hin hunyee fi nami obboleessa ifi hin jaalanne mara ka Waaqaatii moti; ijoolleen Waaqaatii fi ijoolleen Durriisaa kanaan gargar baafamanee beekkaman.

Wol Jaaladha'a

¹¹ Ergaan isin jalqabaa jalqaddanee dhageettane, «Wol jaalatu qanna» ta jettu tana.

¹² Akka Qaayinii te'uu hin qannu; inni ka hamaalessaa te'ee obboleessa ifi ijeese. Inni maaf isa ijeese? Hujiin isaa hantuu teetee, hujiin obboleessa isaa balchittii waan teeteef isa ijeese.

¹³ Obboleeyyan tiyya! Kolbaan biyya lafaa yoo isin jibbite hin maadef-fatina'a!

¹⁴ Nuuti obboleeyyan teenna waan jaalanuuf du'a keessaa gara jiru'uutitti akka dabarre hin beenna. Nami nama hin jaalane du'a keessatti hafa.

¹⁵ Nami obboleessa ifi jibbu, nama nama ijeese; nami nama ijeese, jiruu bara baraa akka ifi keessaa hin qanne isinuu hin beettan.

¹⁶ Kiristoos lubbuu ifi dabarsee waan nu'uuf kenneef, jaalaltiin maan akka teete tanaan beenna; nuutille lubbuu teenna dabarsinee obboleeyyan teennaaf kennuu qanna.

¹⁷ Nami karra qabu tokko obboleessi isaa rakkatuun dhaggaa yoo gadhaa itti jabaate, attamiin jaalaltiin Waaqaa isa keessa jiraatti ree?

¹⁸ Ijoolle! Dubbi'iin yookiin afaan callaan adoo hin te'in, huji'ii fi dhuga'aan wol jaalannuu ti.

Waaqa Duratti Ifi-addii Nuuti Qannu

¹⁹ Nuuti ka dhuga'aa te'uu keennaa fi fuula Waaqaa dura ifi-addi'in dhikaatu'uuf akka dandeennu tanaan beenna.

²⁰ Yennaa wodanaan keenna nutti muru maraa, Waaqi wodanaa keenna waan caaluuf, waan maraa beeka.

²¹ Jaalota tiyya! Yoo wodanaan keenna nutti muruu dhabe, Waaqa duratti ifi-addii qanna.

²² Nuuti ajaja Waaqaatiif waan ajajannuu fi waan isa gammachiisu waan hunyuuf, waan isa gaafanne maraa isa irraa hin fudhanna.

²³ Ajaji Waaqaa, Ilma isaa Yesuus Kiristoositti akka dhugeeffannuu fi akkuma inni nu ajaje akka wol jaalannu.

²⁴ Worri ajaja Waaqaatiif ajajamu Waaqaan le'a; Waaqille isaan keessa le'a. Ayyaana inni nu'uuf kenneen, akka Waaqi nu keessa jiru beenna.

4

Ayyaana Dhugaamessaa Fi Ayyaana Dharaamessa

¹ Jaalota tiyya! Ayyaana maraayyuu hin dhugeeffatina'a; raagoti dharaameyyiin hedduun gara biyya lafaa waan yaa'aneeranuuf, ayyaanni isaan qabanu Ayyaana Waaqaa akka te'e qorqora'aatii ilaala'a.

² Ayyaana Waaqaa kanaan beettan: Ayyaanni akka Yesuus Kiristoos fooniin dhufe dhugeessu maraa ka Waaqaa ti;

³ ayyaanni akka Yesuus Kiristoos fooniin dhufe hin dhugeessine maraa ka Waaqaatii moti; inniin kun ka akka inni dhufu isin dhageettane, ayyaana Kiristoos mormu. Inni ammumaa biyya lafaa keessa jira.

† **3:9 Adabi:** Kitaab Giriikii «Sanyii» jedha; akkas jechuulle hunna jiruu kennitu jechu'u **3:23 Yoh.** 13:34; 15:12; 17

⁴ Ijoolle! Isin ka Waaqaati; ka isin keessa jiru ka biyya lafaa keessa jiru waan caaluuf, raagota dharaameyyii injifattaneertan.

⁵ Raagoti dharaameyyiin ka biyya lafaa waan te'aneef, waan biyya lafaa dubbatan, biyyi lafaalle isaan dhageetti.

⁶ Nuuti ka Waaqaa ti. Nami Waaqa beeku maraa nu dhage'a; nami ka Waaqaa hin te'in mara ammoo nu hin dhage'u. Kanaan Ayyaana dhugaamessaa fi ayyaana dharaamessa gargar baannee beenna.

Waaqi Jaalala

⁷ Jaalota tiyya! Jaalaltiin Waaqa irraa waan teeteef, kowa'a wol jaalannaa! Nami jaalatu maraa ilma Waaqaa ti, Waaqalle hin beeka.

⁸ Waaqi jaalala waan te'eef nami hin jaalanne maraa, Waaqa hin beeku.

⁹ Akka nuuti jiruu isaan dhaggannuuf, Waaqi ilma ifii tokkochuma san gara biyya lafaa ergiisaan, jaalala ifii nu'uuf mudhise.

¹⁰ Jaalala jechuun kana: nuuti Waaqa hin jaalanne, inni ammoo nu jaalatee, ilma ifii cubbuu teennaaf woreega guma'aa akka te'uuf erge.

¹¹ Jaalota tiyya! Waaqi akkana yoo nu jaalate, nuutille wol jaalatu qanna.

¹² Eennulle Waaqa ijumaa hin dhaggine; yoo wol jaalanne Waaqi nu keessa hin jiraata, jaalaltiin isaalle nu keessatti guutuu teeti.

¹³ Inni Ayyaana ifii irraa waan nu'uuf kenneef, nuuti isa keessa, innille nu keessa akka jiraatu hin beenna.

¹⁴ Abbaan ilma ifii Fayyisaa biyya lafaa godhee akka erge nuuti dhaggi-neerra, dhugaalle hin baana.

¹⁵ Yesuus ilma Waaqaa akka te'e nami dhugeessu maraa, Waaqi isa keessa, innille Waaqa keessa hin jiraata.

¹⁶ Nuuti jaalala Waaqi nu'uuf qabu beennee, dhugeeffanneerra.

Waaqi jaalala; nami jaalalaan jiraatu Waaqaan jiraata, Waaqille isaan jiraata.

¹⁷ Biyya lafaa tana irratti akkuma Kiristoos le'e waan leeneef guyyaa mura'aa ifi-addii hin qabaanna; akka kanaan jaalaltiin Waaqaa nu keessatti guutanteerti.

¹⁸ Jaalala keessa sodaan hin jirtu; jaalaltiin guutuun sodaa baatee gatti; sodaan adabama woliin waan wol qabatteertuuf, nami sodaatu jaalaltiin isaa guutu'uu moti.

¹⁹ Waan Waaqi dursee nu jaalateef nuutille hin jaalanna.

²⁰ Eennulle «Ani Waaqa hin jaaladha» jedhaa, obboleessa ifii ammoo yoo jibbe, inni dharaamessa; obboleessa ifii ka ilaan dhaggu ka hin jaalanne, Waaqa ilaan hin dhaggine jaalatu hin dande'u.

²¹ Nami Waaqa jaalatu, obboleessa ifille jaalatu qaba, ajaja jedhu Kiristoos nu'uuf kenneera.

5

Biyya Lafaa Injifatiisa

¹ Yesuus Masihi akka te'e nami dhugeeffatu maraa ilma Waaqaa ti; nami Abbaa jaalatu, ilma isaalle hin jaalata.

² Waaqa yennaa jaalannuu fi ajaja isaatiif ajajannu, ijoollee Waaqaa jaalachuu keenaa tanaan beenna.

³ Waaqa jaalachuu jechuulle ajaja isaatiif ajajamiisa; ajaji isaalle ulfaata'aa moti.

⁴ Sababille nami ilma Waaqaa te'e maraa biyya lafaa hin injifata. Hunni nuuti ittiin biyya lafaa injifannu tunille, dhugeeffannaa teenna.

⁵ Eentu biyya lafaa injifatuu dande'a? Yesuus Ilma Waaqaa akka te'e nama dhugeeffatu calla'atti biyya lafaa injifatuu dande'a.

Worra Yesuus Kiristoosiif Dhugaa Bayane

⁶ Ka bisaan cuuphama isaa akeekuu fi dhiiga du'a isaa akeekuun dhufe kun Yesuus Kiristoos. Inni bisaanii fi dhiigaan dhufe malee, bisaan calla'aan hin dhunne. Ayyaanni dhugaa waan te'eef, Ayyaanni ifiifuu tun dhugaa akka teete dhugaa baya.

⁷ Dhugaa baatoti sad jiran;

⁸ isaanille Ayyaana, bisaanii fi dhiiga; isaan sadiin kun wolii galan.

⁹ Nuuti dhugaa baya namaa hin dhugeeffanna; dhugaa bayiisi Waaqaa ammoo, tana caalti. Dhugaan Waaqaa tun ta inni Ilma ifitiif dhugaa baye.

¹⁰ Nami Ilma Waaqaatitti dhugeeffatu, dhugaa baya tana ifi keessaa qaba; nami Waaqa hin dhugeeffanne ammoo, dhugaa baya Waaqi Ilma ifitiif baye dhugeeffatiisa waan dhabeef, Waaqa dharaamessa godheera.

¹¹ Dhugaan inni baye tana: Waaqi jiruu bara baraa nu'uuf kenneera, jiruun tun Ilma isaa keessa jirti.

¹² Nami Ilma Waaqaa qabu jiruu qaba; nami Ilma Waaqaa hin qanne jiruu hin qabu.

Jiruu Bara Baraa

¹³ Isin worri maqaa Ilma Waaqaatitti dhugeeffattanu, jiruu bara baraa akka qaddanu akka beettanuuf, ani tana mara isiniif barreessa.

¹⁴ Waaqa dura dhikaatiisaaf ifi-addiin nuuti qannu tana: waan mara akka fedha isaa yoo isa gaafanne inni nu hin dhage'a.

¹⁵ Waan isa gaafannu mara akka inni nu'uu dhage'u yoo beenne, yennaa isa gaafannu mara akka fudhannu hin beenna.

¹⁶ Eennulle obboleessi isaa cubbuu du'atti [bara baraatitti] isa hin geessine hujuun yoo dhagge, isaaf daadimatu ti. Waaqi jiruu bara baraa nama saniif hin kenna. Tun worra cubbuu du'a [bara baraatitti] isaan hin geessine hujane calla'aaf teeti. Cubbuun du'a [bara baraatitti] nama geessittu jirti, ta akkanaatiif daadimadhu isaan hin jedhu.

¹⁷ Balleessaan marti cubbu'u; ammoo cubbuun du'a [bara baraatitti] nama hin geessine jirti.

¹⁸ Ijoolleen Waaqaa cubbuu hujaa hin teettu; Ilmi Waaqaa waan isaan tissuuf hamaalessi isaan miidhu'uuf hin dande'u.

¹⁹ Nuuti ijoollee Waaqaa akka teenee fi biyyi lafaa duudiin hunna hamaalessaa jala akka jirtu hin beenna.

²⁰ Ilmi Waaqaa dhufee Waaqa dhugaamessa akka beennuuf, hubantii akka nu'uuf kenne hin beenna. Nuuti Waaqa dhugaamessaa fi Ilma isaa Yesuus Kiristoos keessa leena. Waaqi dhugaamessi kana, jiruun bara baralle tana.

²¹ Ijoollee tiyya, waaqota dharaameyyii irraa ifi eeggadha'a!

Ergaa Yohaannis Erge Ta Lammeesso'oo Seensa

Ergaa Yohaannis erge ta lammeesso'oo ka barreesse jaarsicha ergamaa Yohaannis. Inni giittittii filatantee fi ijoollee isi'iitiif barreesse; jechu-ulle wolde'a kiristaanaa tokkoo fi miseensa isaatiif te'uu hin dhabu. Ergaan gabaadduun tun, akka wol jaalatanu yaadachiisiisaaf, barsiisota dharaameyyi'ii fi barsiisa isaanii irraa ifi eeggachiisiisaaf barreeffante.

Haadhoo Dubbi'ii

Seensa 1-3

Jaalaltiin Waan Maraa Caalti 4-6

Gorsaa fi ifi eeggachiisaa 7-11

Nageya Dhaamiisa 12-13

¹ Ana jaarsa biraa, giittittii filatantee fi ijoollee isi'iitiif:

Ani dhugumaan isin jaaladha, na calla'aa moti, ammoo worri dhugaa beeku duudiinuu isin jaalata.

² Sababille dhugaan nu keessa jirtu tun haga bara baraa nu woliin hin jiraatti.

³ Badhaadhi, arjumma'aa fi nageenni, Waaqa Abba'aa fi Yesuus Kiristoosii Ilma Abba'aa biraa, dhuga'aa fi jaalalaan nu woliin jiraatuu ti.

Dhuga'aa Fi Jaalala

⁴ Akkuma Abbaan nu ajajetti, ijoollee teeti keessaa gariin dhuga'aan jiraatanuun dhaggiis guddoo na gammachiiseera.

⁵ Ammalle giitti'i! Akka wol jaalannuuf, ajaja jalqabaa jalqannee qannu san si yaadachiisiisaaf malee, ajaja haareya si'iif barreessiisaaf moti.

⁶ Jaalala jechuun ajaja Waaqaatiif ajajamiisaan le'iisa. Akkuma isin mart-inuu jalqabaa jalqaddanee dhageettane, ajaji isaa akka jaalalaan leetanu.

⁷ Akka Yesuus Kiristoos fooniin* gara biyya lafaa dhufe worri dhugaa hin baanne, worri nama dokonkorsanu hedduun gara biyya lafaa bayaneeran. Eennulle nami akkasii nama nama dokonkorsuu fi nama Kiristoos mormu.

⁸ Gatii guutuu akka dhaggattanu malee, gatii waan hujjane akka hin dhanne ifi eeggadha'a!

⁹ Nami barsiisa Yesuusiitiin hin jiraannee fi irraa goree deemu mara Waaqa hin qabu; nami barsiisa Kiristoosii qabatee ittiin jiraatu mara ammoo Abba'aa fi Ilma qaba.

¹⁰ Barsiisa kana adoo hin qabatin eennulle gara keessan yoo dhufe, mana keessanitti isa hin fudhatina'a! Nageyalle hin fuudhina'a!

¹¹ Nami nageya isa fuudhu, hujii isaa hantuu san qoodama.

Nageya Dhaamiisa

¹² Waan isiniif barreessu waan hedduu qaba; te'uu malee woraqataa fi hallu'uun isiniif barreessiisaaf hin barbaadu; ammoo gammadi keenaa guutuu akka te'uuf, gara keessan dhufee ilaan wol dhagginee, isin woliin haasowiisaaf addii qaba.

¹³ Ijoolleen obboleettii teeti filatantu'uu nageya si'iif dhaanti.

* 1:7 Fooniin: Nafa namumma'aatiin

Ergaa Yohaannis Erge Ta Sadeesso'oo Seensa

Ergaa Yohaannis erge ta sadeesso'oo, jaarsicha ergamaa Yohaannisitti barreesse. Ergaan tun namicha Gaayos jedhamu ka soorressa wolde'a kiristaanaa te'eeruuf barreeffante. Abbaan barreesse gara kaaniin, waan dhugeeffattoota qarqaareef Gaayos galateeffata; gara kaaniin ammoo namicha jallaamessa ka Diyotreefes jedhamu irraa akka ifi eeggatuuf isa yaadachiisa.

Haadhoo Dubbi'ii

Seensa 1-4

Galateeffamiisa Gaayosii 5-8

Dokonkora Diyotreefesii Himiisa 9-10

Galateeffamiisa Demeexroosii 11-12

Nageya Dhaamiisa 13-15

¹ Ana jaarsa biraa:

Jaala kiyya ka ani dhugumaan jaaladhuuf:

² Jaala kiyya! Akkuma lubbuun teeti tolte, akka fayyaa teetuu fi wonni maraa si'iif tolu hin daadimadha.

³ Obboleeyyan gariin dhufanee dhuga'aaf addatamu'uu fi dhuga'aan jiraachuu keeti yennaa natti himane ani guddoo gammade.

⁴ Ijoolleen tiyya dhuga'aan jiraachuu isi'ii dhage'iisaan irra wonni na gammachiisu hin jiru.

Gaayos Galateeffame

⁵ Jaala kiyya! Obboleeyyan si'iif keessummaa haareya te'anulle, ati isaan addatamaan hin qarqaarta.

⁶ Isaanille marroo jaalala keetii wolde'a kiristaanaatitti himaneeran; karaa Waaqa gammachiisuun deemsaa isaaniitiifille isaan qarqaartee yoo geegessite waan dansa'a.

⁷ Isaan Kiristoos tajaajiliisaaf yennaa bayane, worra dhugeeffattoota hin te'in irraa womaa hin fudhanne.

⁸ Nuuti hujii dhuga'aa tana worra qoodamu akka teenuuf namoota akkasii kana qarqaaruu qanna.

Diyotreefesii Fi Demeexroos

⁹ Ani wolde'a kiristaanaatiif xalayaa barreesseera; Diyotreefesiin soorressa te'iisaaf barbaadu ammoo yaada kiyya hin fudhanne.

¹⁰ Maarre ani yoo dhufe, dharaan nu hamataa hantuu inni hujaa ture maraa dubbadha; tunille isa gewuu dhaddee obboleeyyan fudhata dida. Worri dhibiille akka isaan hin fudhanne dhooggee, wolde'a kiristaanaa keessaa isaan baasa.

¹¹ Jaala kiyya! Waan dansaa fakkaadhu malee waan hamaa hin fakkaatin. Nami waan dansaa huju ka Waaqaa ti; nami waan hamaa huju Waaqa hin dhaggine.

¹² Nami maraa dansaa Demeexroosii dubbata; dhugaalle dansaa isaa dubbatti. Nuutille dansaa isaa hin dubbanna; dhugaa bayiisi keenna dhugaa akka teete ati hin beetta.

Nageya Dhaamiisa

¹³ Waan si'iif barreessu waan hedduu qaba; ammoo feeni'ii fi hallu'uun si'iif barreessiisaaf hin barbaadu.

¹⁴ Dhiko'ottuu akka si dhaggu hin addadha; yennaa san ilaan wol dhaggi-
nee hin haasonna.

¹⁵ Nageenni si'iif te'u.

Jaaloti teeti nageya si'iif dhaaman. Jaalota teennatti tokkuma tokkoon
nageya nu'uuf himi.

Ergaa Yihudaan Erge Seensa

Ergaan Yihuda'aa, worra dhugeeffattoota adoo hin te'in, dhugeeffattoota fakkaatee, barsiisa dharaa facaasu irraa dhugeeffattoota ifi eeggachiisiisaaf barreeffante. Ergaan tun dubbii ifi keessaa qadduun, ergaa Pheexroosii ta lammeesso'oo ta fakkaattu, ergaa gabaadduu tana keessatti, barreessaan, «Marroo dhugeeffannaa Waaqi kolba'aaf, yennaa takkattii akkaataa itti ded-deebii hin qanneen kennee, jabeennaan akka falmatanu» worra dubbifatu jabeessee yaadachiisa.

Haadhoo Dubbi'ii

Seensa 1-2

Barsiisa barsiisota dharaameyyi'ii, amalaa fi jigiisa 3-16

Dhugeeffannaa akka eegatanuuf gorsa kenname 17-23

Eebba 24-25

¹ Ana Yihudaa garbicha Yesuus Kiristoosii, obboleessa Yaaqoobii biraa: Isin worra waamantanee, Waaqa Abba'aan jaalatantanee, Yesuus Kiristoosiin tiffantaneef:

² Marartiin, nageennii fi jaalalli isiniif fakkanu.

Barsiisota Dharaameyyii

³ Jaalota tiyya! Marroo fayyinna woliin qoodannuu isiniif barreessiisaaf ani guddoo barbaadeeraayyu; amma ammoo marroo dhugeeffannaa yennaa takka'atti yennaa maraaf Waaqi kolbaa ifitiif kennee, jabaattanee akka falmattanu isin gorsiisaaf barreessuun, barbaachisaa te'ee natti dhage'ameera.

⁴ Worri Waaqa hin sodaanne gariin, dhokaataan luuxanee wodhakkaa teenna seenaneeran. Isaan worra badhaadha Waaqa keennaa akka fedhane le'iisatti jijjiiranuu fi Yesuus Kiristoos callaan bulcha'aa fi Goottaa akka te'e mormanu. Akka isaanitti muramu yennaa heddu'uun duraa barreeffameera.

⁵ Waan kana maraa isin duruu beettan, te'uu malee, akka Goottaan kolbaa ifii biyya Gibxii keessaa baasee fayyisee fi worra isatti hin dhugeeffatinille duuba irra akka balleesse isin yaadachiisu'uuf barbaada.

⁶ Akkasuma ergantoota Waaqaa ta baallii isaanii kennante irra dabaranee, addee tee'anuu gad lakkisane qaabadha'a! Waaqi wodaroo sibiilaa ta hidhaa bara baraatiin dukkana keessatti hidhee, haga guyyaa muraa guddo'oo isaan eegaa turseera.

⁷ Akkasuma worri qachoota Sodoomiitii fi Gomora'aa, worri qachoota adaala saniille sagaagaltuu* te'anee, seera dadamaatiinille ala sagaagalane. Isaan worra ibidda bara baraatiin adabamiisaan rakkatuuf fakkeenaa te'aneeran.

⁸ Akkasuma, worri kun oojuu ifii hordofiisaan nafa ifi batteessan; baallii Waaqaalle hin tuffatan, worra ol-gubba'atti ulfinna qabulle† hin arrassan.

⁹ Mikaa'eliin angafi ergantoota Waaqaatuu, yennaa reeffa Muuse'ee irratti Seexanaan wol mormane, «Goottaan si xixu» jedhe malee, arrassee itti muriisaaf itti hin gamne.

^{1:1} Mat. 13:55; Mar. 6:3 * ^{1:7} Sagaagaltuu: Sultoolee † ^{1:8} Worra ol-gubba'atti ulfinna qabulle: Ergantoota Waaqaa

¹⁰ Namooti kun ammoo waanuma hin hubanne arrassan; akka bineen-sota wo yaadanee gargar hin baannee, wonni isaan duuddittii yaada dhalootaatiin beekanu kun waan isaan balleessu.

¹¹ Isaaniif aanne'e! Isaan karaa Qaayiniititti goraneeran; adoo beese'eef joljolanuu dokonkora Bala'aamii keessa galaneeran; akkuma Qoraahii fin-qilane badane.

¹² Jarri tun fokkoo malee isin woliin nyaatiisaan jila jaalalaa keessan batteessan. Isaan gadhaa ifii calla'aaf yaadan; isaan akka duumensa bokkeya ifi keessaa hin qannee, ka qilleensaan oofamuu ti. Isaan akka muka yennaa midhaan buusu'uuf maletti midhaan buusuu dhabee, hiddaan buqqa'ee gogee killi jedhee ti.

¹³ Isaan akka danbalii abbaaya'aa, hoomacha fokkoo ifii hoomachowaa, akka urjii taattottee ta addeen dukkana duudduu bara baraa isi'ii qophoottee ti.

¹⁴⁻¹⁵ Addaamii jalqabee dhaloota torbeesso'oo ka te'e Heenoki, marroo namoota kanaatiif raagee, «Kunoo, Gootaan nama duudii irratti muriisaaf woyyoota ifii bindillaa woliin hin dhufa. Inni hujii badduu worri Waaqa hin sodaanne hujee fi dubbii arrabaa ta cubbaaleyyiin Waaqa hin sodaanne isa irratti dubbatte maraaf itti hin mura» jedhe.

¹⁶ Namooti kun yennaa mara worra gungumanuu fi worra namoota dhibii komatanu; isaan halchaa badduu ifii hordofan, ifi hin jajan, bu'aa ifitiif jedhane kolbaa sobanee saadan.

Ifi Eeganno'oo Fi Gorsa

¹⁷ Jaalota tiyya, isin ammoo dubbii ergantooti Gootaa keenna Yesuus Kiristoosii tanaan dura dubbatte qaabadha'a!

¹⁸ Isaan isiniin, «Bara muumme'eetitti worri Waaqa hin sodaanne worri halchaa badduu ifii hordofu, worri shasheessu hin dhufa» jedhaneeran.

¹⁹ Worri kun worra isin gargar qoodu, worra Ayyaana Woyyicha hin qanne, worra duuddittii halchaa ifii ta biyya lafaa gula yaa'u.

²⁰ Jaalota tiyya, isin ammoo dhugeeffannaa teessan ta waan duudi'iin irra woyyittii teete irratti dhaabbadha'aatii jabaadha'a! Hunna Ayyaana Woyyichaatiin daadimadha'a!

²¹ Marartiin Gootaa keenna Yesuus Kiristoosii, ta gara jiruu bara baraatitti isin geessitu eeggataa, jaalala Waaqaa keessatti ifi eega'a!

²² Worra mama qabuuf marartii qabaadha'a!

²³ Worra kaan ibidda keessaa buta'aa baasa'aatii hambura'a! Worra kaan worra uffanni isaanii foon cubbama'aan‡ battowelle jibbaa, soda'aan marara'aaf!

Daadimata Galataa

²⁴ Akka isin hin jinne isin tissiisaa fi komatama malee, gammadaan ulfinna ifii dura isin dhikeessiisaaf ka dande'u,

²⁵ Waaqa fayyisaa keenna tokkochaaf, karaa Gootaa keenna Yesuus Kiristoosiitiin, ulfinni, guddinni, hunnii fi baalliin bara durii mara duraan jalqabee, bara ammaatii fi haga bara baraa isaaf te'u! Ameen.

‡ 1:23 Foon cubbama'aan: Halchaa cubbitti'iin

Mudhii Yohaannisitti Mudhatte Seensa

Wolde'ooti kiristaanaa Yesuus Kiristoos Gootaa ifii godhatanee waan itti dhugeeffataneef, yennaa miidha'aa fi rakkinni isaan geyiisatti jiru, mudhiin Yohaannisii barreeffante. Xiyyeeffannaan barreessa'aa guddoon, addiin worra dubbifatuu guutuu akka teetuuf, isaan jajjabeessiisaa fi miidha'aa fi rakkinna isaan geye keessatti dhugeeffanna'aan akka jabaatanu uttisiisa*.

Kutaan Kitaaba kanaa irra caalaa mudhii heddu'uu fi ta wol gula himantu ka qabateeru; mudhiin hedduun tunille ta wolde'i kiristaanaa hubatiisaa dande'anuu, worra dhibi'iif ammoo dhossaa teetee ta turtu ta okolgombisaan† ta dhiyaateertu. Akkuma itti deddeebiin faaru'uu itti deddeebi'antu mata dureen kitaaba kanaalle karaa mudhii adda addaatiin, bifa adda addaatiin itti deddeebi'iisaan dhiyaateerti. Marroo hiikkaa kitaaba kanaa yaadi adda addaa jiraatulle, yaadi guddaan ifa; yaadi kunille Waaqi karaa Gootaa Kiristoosiitiin diinota ifii duudii, Seexanalle, takkumaan guutuma guutu'utti hin injifata; yennaa injifachaan tun muummotte, worra isaa ka addatameef eebba ol-gubbaa haareyaatii fi lafa haareyaa hin dhaalchisa ta jettu.

Haadhoo Dubbi'ii

Seensa1:1-8

Itti keyata Mudhi'iitii fi xalayaa wolde'oota kiristaanaa torbaaf ergame1:9–3:22

Kitaaba marama'aa fi chaappaa torba4:1–8:1

Tultullaa torba8:2–11:19

Jawwe'ee fi bineensa lamaan12:1–13:18

Mudhii adda addaa14:1–15:8

Muduunuu mufii Waaqaa torba16:1-21

Badii Baabilonii, injifatamiisa bineensaa, injifatamiisa raagaa dharichaatii fi Seexanaa17:1–20:10

Muraa muumme'ee20:11-15

Ol-gubbaa haareya, lafa haareya, Yerusaaalemii haareya21:1–22:5

Yaada buufataa22:6-21

¹ Mudhiin Yesuus Kiristoosii, ta akka inni waan dafee te'uu qabu tajaajiltoota ifiititti mudhisuuf Waaqi itti kenne tana; Yesuusille ergamaa Waaqaa ergee tajaajilaa ifii Yohaannisitti waan kana beessise.

² Yohaannisille marroo Jecha Waaqaatii fi marroo dhugaa baya Yesuusiitiif waan dhagge mara dhugaa baye.

³ Barri waan dhiyaateeruuf, dubbii raagaa tana nami dubbisu, worri dhage'uu fi worri waan keessatti barreeffame eeggatu ka badhaadhe.

Nageya Wolde'oota Kiristaanaa Torbaaf Ergame

⁴ Ani Yohaannis, wolde'oota kiristaanaa torba ka lafa Asiyaa keessa jirtanuuf:

Badhaadhii fi nageenni Waaqa amma jiru, ka duri jiru, ka dhufu'uu jiru biraa, ayyaanota torba ka barcumaa mootummaa isaa dura jiranu biraa,

⁵ Yesuus Kiristoosii dhugaa-bayaa addatamaa, ka worra du'e keessaa angafa te'ee kaafamee fi bulchaa mootota lafa tanaa te'e biralle'ee isiniif te'u jedha.

Ka nu jaalatee cubbuu teenna jalaa dhiiga ifitiin bilisa nu baasee,

* : Uttisiisa: jajjabeessiisa † : Okol-gombisaan: Dubbii woyiin fakkeessanee dubbatanu

⁶ Waaqa Abbaa isaa akka tajaajilluuf mootumma'aa fi hayyoota ka nu godheef, ulfinnii fi hunni bara baraa, haga bara baraa teetu! Ameen.

⁷ Kunoo, inni duumensaan dhufaara,
ilti marti isa hin dhaggiti;
worri isa woraaneeyyuu hin dhagga;
kolbaan lafa irraa marti sababa isaatiin hin bowan.
Ee! Akkasuma hin teeti. Ameen.

⁸ Waaqi Gootaan amma jiru, ka durille jiru, ka dhufu, ka waan duudii dande'u, «Alfa'aa fi Omeegaan Ana» jedha; [akkasi jechuun ani ka duraatii fi duubaati jechu'u].

Mudhii Kiristoosii

⁹ Ani obboleessi keessan Yohaannis, ka waa'ela keessan te'ee Yesuusiin rakkinna, mootumma'aa fi ciniinnatanee ossiisa qoodame, marroo Jecha Waaqaatii fi marroo dhugaa-bayiisa Yesuusiitiif oddoola Phaaximoo jedhantu keessa jiraayyu.

¹⁰ Guyyaa Goota'aa, ani Ayyaana Waaqaatiin jiraayyu; qoonqoo guddoo ta akka tultulla'aa[‡] ifi duubatti dhage'e.

¹¹ Qoonqoon sun, «Waan dhaggitu kitaaba marama'atti barreessiitii, wolde'oota kiristaanaa torba ka qachaa Efesoonii, ka qachaa Simiirnaa, ka qachaa Phergamoonii, ka qachaa Tiyaatiraa, ka qachaa Saardeesii, ka qachaa Filaadelfiya'aatii fi ka qachaa Laa'odiiqeya'aa keessa jiruuf ergi!» naan jette.

¹² Anille qoonqoo natti dubbatiisatti jirtu ilaaliisaaf ifi irra garagale; yenna ifi irra garagale waan issaan irra keyamu torba ka worqi'iin hujame dhagge;

¹³ waan issaan irra keyamu odduulle'etti waan ilma namaa fakkaatu tokko dhagge; inni uffana dheeraa hirba bira gewu uffatee, hidhata worqi'iitiin qoma ifii hidhateera.

¹⁴ Mata'aa fi rifeensi isaa adii akka rifeensa hoolee adi'iitii fi adii akka dhakaa bokkeyaa ti; ilti isaalle akka bobe'a ibiddaa fakkaatti.

¹⁵ Miilli isaa akka sageettuu dhiillee boolla ibiddaa keessatti finiintee morodantee ittuu ti; qoonqoon isaalle akka shookkessa gootuu bisaanii ti.

¹⁶ Harka middichaan urjoota torba qabateera; afaan isaa keessaa shallaagaa[§] qara lamaa ka qarametti baya; fuulli isaalle akka aduu orra'aa ifa.

¹⁷ Yennaa isa dhagge akka nama du'ee te'ee miila isaa jallatti jige. Inni ammoo harka ifii middicha ana irra keyee, «Hin sodaatin! Ka duraatii fi duubaalle ana;

¹⁸ ani Jiraata'a; ani du'eeraayyu, amma ammoo baraa haga bara baraa jiraadha; furtoon du'aa fi balbala addee worri du'e jiru bantu harka kiyya jirti.

¹⁹ Maarre waan dhaggite, waan amma jiruu fi waan kanaan duuba te'u barreessi.

²⁰ Hiikkaan dhossaa urjoota torbaatii fi wonna issaan irra keyamuu ka worqi'iin hujame torbaa, ka ati harka kiyya middichatti dhaggitee kana: Urjooti torba ergantoota Waaqaa ta wolde'oota kiristaanaa torbaa ti; wonni issaan irra keyamu ka worqi'iin hujame torba, wolde'oota kiristaana torba.

2

Ergaa Wolde'a Efesooniitii Ergante

^{1:6} Mudh. 5:10 ^{1:7} Mat. 24:30; Mar. 13:26; Luq. 21:27; 1 Tas. 4:17; Yoh. 19:34,37 [‡] **1:10**
Tultulla'aa: Magalataa [§] **1:16** *Shallaagaa:* Shiifa dheeraa tokko. **1:17** Mudh. 2:8; 22:13

- ¹ «Ergamaa wolde'a kiristaana Efesooniitiif akkas jedhii barreessi:
«Urjoota torba ka harka middichaana qabateeru, waan issaan irra keyamu ka worqi'iin hujame torbaanuu odduu ka deddeebi'u akkana jedha:
- ² Hujii teeti, itti dadhabuu keetii fi ciniinnattee ossatuu keeti beekeera. Worra hamaa cadhittee akka ati hin lakkinne, worra ergantoota adoo hin te'in «Nuuti ergantoota» ifiin jedhanu qortee ilaaltee sobaaleyyii akka te'ane akka dhaggitelle ani hin beeka.
- ³ Ciniinnattee ossattee, maqaa kiyyaaf rakkinna fudhattee, tana mara akka ati hin dadhabin ani hin beeka.
- ⁴ «Te'uu malee, waan si ciicadhu* qaba; sunilleen, jaalala duri qaddu lakkitteerta.
- ⁵ Yoona maan irraa akka jidde yaadadhu! Cubbuu irraa deebi'iitii hujii duri hujju hujji! Yoo cubbuu irraa hin deebi'in, ani sitti dhufee waan issaan keeti irra keyamu addee isaatii fuudha.
- ⁶ Ammoo waan dansaa kana qadda: Hujii Niqolaawotaa ta ani jibbu atille hin jibbita.
- ⁷ «Nami gurra qabu, waan Ayyaanni Waaqaa wolde'oota kiristaanaatiin jedhu dhage'uu ti! Nami injifatu, muka jiruu kennu ka fichaa Waaqaa† keessa jiru irraa akka nyaatu hin tolcha.

Ergaa Wolde'a Simiirna'aatii Ergante

- ⁸ «Ergamaa wolde'a kiristaana Simiirnaatiif akkas jedhii barreessi:
«Ka duraatii fi duuba, ka du'ee, deebi'ee jiraataa te'e akkasi jedha:
- ⁹ Rakkinnaa fi hiyyummaa teeti hin beeka; te'uu malee ati dureessa. Yihudoota adoo hin te'in nuuti Yihudoota ifiin jedhaa worra maqaa keeti balleessu ani hin beeka; isaan wolde'a Seexanaa ti.
- ¹⁰ Rakkinna sitti dhufaaru hin sodaatin. Kunoo, Seexanni isin haga ilaaliisaaf, isin keessaa garii mana hidha'aatitti hin galcha; guyyaa kudhan hin rakkatan. Haga du'aatitti ka addatante te'i; anille kallacha jiru'uu si'iif hin kenna.
- ¹¹ «Nami gurra qabu, waan Ayyaanni Waaqaa wolde'oota kiristaanaatiin jedhu dhage'uu ti! Nami injifatu du'a lammeesso'ootiin hin miidhamu.

Ergaa Wolde'a Phergamooniitii Ergante

- ¹² «Ergamaa wolde'a kiristaana Phergamooniitiif akkasi jedhii barreessi:
«Ka shallaagaa qara lamaa, ka qarame qabu akkas jedha:
- ¹³ Addee barcumaan mootummaa Seexanaa jiru akka ati leetu ani hin beeka; te'uu malee maqaa kiyya jabeessitee qabatteerta. Bara dhugaa-bayaan addatamaan kiyya Antiiphaas qachaa keessan ka Seexanni keessa le'u keessatti ijjeefamelle, dhugeeffannaa na irratti qaddu hin mormanne.
- ¹⁴ «Te'uu malee waan si irratti ciicadhu waan diqqaa qaba: Ijoolleen Israa'elii sagalee waan Waaqa hin te'iniif woreegante akka nyaattuu fi akka sagaagaltu gufuu dura keyiisaaf, barsiisa Bala'aamii ka Baalaaq barsiise worri hordofu isin keessa jira.
- ¹⁵ Akkasuma barsiisa worra Niqolaawotaa worra hordofulle qadda.
- ¹⁶ Tanaaf cubbuu irraa deebi'i; yoo akkas hin te'in, ani ariifadhee dhufee, shallaagaa afaan kiyyaatiin isaan hin lola.
- ¹⁷ «Nami gurra qabu, waan Ayyaanni Waaqaa wolde'oota kiristaanaatiin jedhu dhage'uu ti! Nama injifatuuf sagalee mannaa jedhantu ta dhokat-teertu hin kennaaf. Akkasuma dhakaa adii ka maqaan haarenni irratti

* **2:4** Ciicadhu: Boodhu † **2:7** Fichaa Waaqaa: jannata **2:7** Mudh. 22:2 **2:8** Mudh. 1:17; 22:13
2:11 Mudh. 20:14; 21:8

barreeffameeru, ka nama fudhatu san malee eennulle hin beenne hin kennaaf.

Ergaa Wolde'a Tiyaatira'aatii Ergante

¹⁸ «Ergamaa wolde'a kiristaana Tiyaatira'aatiiif akkas jedhii barreessi:

«Ilmi Waaqaa, ka ilti isaa bobe'a ibiddaa fakkaattu, ka miilli isaalle sageetuu dhiillee morodante fakkaatu akkas jedha:

¹⁹ Hujii teeti, jaalala keeti, dhugeeffannaa teeti, tajaajilaa fi ciniinnatee ossatuu keeti ani hin beeka; akkasuma hujiin teeti ta qaraa ta ammaa akka caaltu ani hin beeka.

²⁰ «Te'uu malee waan si irratti ciicadhu gaba: Dubartii Iizaabel jedhantu ta ifiin, «Ani raaddu'u» jettu cadhittee itti lakkitteerta. Isiin barsiisa ifiitiin akka tajaajiltooti tiyya sagaagaltuu[‡] fi sagalee waaqa dharaatiif woreegante akka nyaattu dokonkorsiti.

²¹ Akka isiin cubbuu sagaagalumma'aa irraa deebituuf yennaa isi'iif kenneeraayyu; isiin ammoo deebi'uu didatte.

²² Maarre ani akka isiin dhukkuffatee taqee irra ciittu godha[§], worri isii gaarayyeefatulle hujii isi'ii hantuu irraa yoo hin deebi'in, ani rakkinna guddaa itti fida.

²³ Ijoollee* isi'iille hin ijjeesa; kanaan wolde'ooti kiristaanaa duudiin, ka yaadaa namaatii fi gadhaa namaa qorqoru ana akka te'e hin hubatan. Tokko tokkoo keessaniifuu akkuma hujii teessaniititti isiniif hin kenna.

²⁴ «Tiyaatiraa keessatti, isin worra barsiisa isi'ii hin hordofinii fi «Dhossaa guddoo Seexanaa» ta jedhante worra hin baratin hattaneen ammoo, waan jedhu: Ba'aa dhibii isin irratti hin fe'u;

²⁵ haga ani dhufutti woma qaddanu san jabeessa'aa qabadha'a.

²⁶⁻²⁷ Akkuma ani abbaa kiyya biraa baallii fudhadhe, nama injifatuu fi nama hujii tiyya haga muumme'eetitti hujuuf, gosa mara irratti baallii hin kennaaf; innille, ulee bokku'uu ta sibiilaatiin gosa san hin bulcha; akka okkotee faaraalle isaan caccassee butucha.

²⁸ Bakkalcha bari'iille ani isaaf hin kenna.

²⁹ «Nami gurra qabu waan Ayyaanni Waaqaa wolde'oota kiristaanaatiin jedhu dhage'uu ti!» ta jettu.

3

Ergaa Wolde'a Sardeesiitii Ergante

¹ «Ergamaa wolde'a kiristaana Sardeesiitiiif akkas jedhii barreessi:

«Ayyaanota Waaqaa torbaa fi urjoota torba ka harkatti qabateeru akkas jedha: Hujii teeti hin beeka; maqa'aan hin jirta, ammoo duuteerta.

² Maarre dammaqi! Waan hafe ka du'a geyeeru jabeessi! Hujiiin teeti Waaqa kiyya duratti guutuu teeteertuun hin dhaggine.

³ Yoona, waan fudhattee fi waan dhageette qaabadhu; ajajamiif, cubbuu irralle'ee deebi'i. Yoo dammaquu dhadde ammoo akka hattu'uu sitti dhufa; saatii tam akka ani sitti dhufulle hin beettu.

⁴ Te'uu malee, qachaa Saardeesii keessa namooti diqqaan ka woyaa ifii hin xureessin si woliin jiran. Waan isaanii male waan te'eef, isaan woyaa adii uffatanee na woliin hin ideeman.

⁵ Nami injifatulle akkuma isaanii woyaa adii hin uffata; anille Abbaa kiyyaa fi ergantoota isaa duratti dhugaa hin bayaaf; maqaa isaalle kitaaba jiru'uu keessaa hin haqu.

[‡] 2:20 Sagaagaltuu: Ofattuu § 2:22 Taqee irra ciittu godha: Taqee dhibe'eetitti isii golaansa * 2:23 Ijoollee: Hordofattoota

⁶ «Nami gurra qabu, waan Ayyaanni Waaqaa wolde'oota kiristaanaatiin jedhu dhage'uu ti.

Ergaa Wolde'a Filaadelfiya'aatii Ergante

⁷ «Ergamaa wolde'a kiristaana Filaadelfiya'aatii akkasi jedhii barreessi:

«Woyyichaa fi dhugaamessa ka te'e, ka furtuu Daawitiille harkatti qaba-teeru, ka waan inni cufe eennulle banuu hin dandeenne, ka waan inni banelle eennulle cufuu hin dandeenne akkasi jedha:

⁸ Ani hujii teeti hin beeka. Akka ati hunna diqqoo qaddu hin beeka; te'uu malee, dubbii tiyya eeggateerta; maqaa kiyyalle hin mormanne. Kunoo, balbala banante ta eennulle cufiisaaf hin dandeenne si dura keyeera.

⁹ Worri Yihudoota adoo hin te'in nuuti Yihudoota ifiin jedhu, worri dharaameyyiin, worri wolde'a Seexanaa te'e, gara keeti dhufee miila keeti jalatti akka sagadu, akka ani si jaaladhelle akka beekanu hin tolcha.

¹⁰ Ciniinnattee akka ossattuuf ajaja ani kenne waan eeggatteef, anille saatii haga ilaalchaa, ta worra lafa irra le'u haga ilaaliisaaf biyya lafaa duudii irratti dhuttu irraa si eega.

¹¹ «Ani ariifadhee hin dhufa. Eennulle kallacha keeti akka hin fudhanne waan qaddu jabeessii qabadhu.

¹² Nama injifatu Galma Waaqa kiyyaa keessatti utubaa tolcha; ijjumaa keessaa hin bawu. Maqaa Waaqa kiyyaa, maqaa qachaa Waaqa kiyyaa ka Yersaaleemii haareya Waaqa kiyya biraa ol-gubba'aa gadi buutuu, maqaa kiyya haareyalle isa irratti hin barreessa.

¹³ «Nami gurra qabu, waan Ayyaanni Waaqaa wolde'oota kiristaanaatiin jedhu dhage'uu ti.

Ergaa Wolde'a Laa'odiiqeya'aatii Ergante

¹⁴ «Ergamaa wolde'a kiristaana Laa'odiiqeya'aatii akkas jedhii barreessi:

«Ka «Ameen» jedhamu, ka dhugaa-bayaa addatama'aa fi dhugaamessa te'e, ka madda dada Waaqaa te'e akkas jedha:

¹⁵ Ani hujii teeti hin beeka; ati o'aa yookiin qabbanowa'aa moti. O'aa yookiin qabbanowaa adoo teetee jiraate sila hin jaaladhaayyu.

¹⁶ Ati ammoo bulluqowa'a malee, o'aa yookiin qabbanowaa waan hin te'iniif, afaan kiyya keessaa si tufaara.

¹⁷ «Ati, «Ani dureessa, ani quufaleessa, womaa naaf hin barbaachisu» jetta; ammoo, ati deegaa, naasisaa*, hiyyeessa, balla'aa, fi nafa-qullaa akka ka jirtu akka teete ifi hin beettu.

¹⁸ Maarre akka duroontuuf, worqii ibiddaan qulqulloonte akka bitattu, nafi-qullaan fukkisiisu akka hin mudhanneef woyaa adii akka bitattu, dhaggiisaafille akka dandeettu qorsa ilatti buufattu akka na irraa bitattu si gorsa.

¹⁹ Ani worra jaaladhu duudii hin xixa, hin adaballe'e. Tanaaf jabaadhu, cubbuu irralle'ee deebi'i.

²⁰ Kunoo, ani balbala dura dhaabbadhee balbala dhodhowa; eennulle qoonqoo tiyya dhage'ee yoo balbala naaf bane, ani seenee isa woliin nyaadha, innille na woliin nyaata.

²¹ Akkuma ani injifadhee Abbaa kiyya woliin barcumaa mootummaa isaa irraa tee'e, nami injifatulle na woliin barcumaa mootummaa tiyyaa irra akka tee'u hin tolcha.

²² «Nami gurra dhage'u qabu, waan Ayyaanni Waaqaa wolde'oota kiris-taanaatiin jedhu dhage'uuti!» jedha.

4

Waaqonfannaa Ol-Gubba'aa

¹ Kanaan duuba ani ilaalee, ol-gubba'atti balbala banante dhagge. Qoon-qoon tanaan dura akka tultulla'aa anaan dubbattuun ani dhage'e, «Asi koy, waan kanaan duuba te'u ani sitti mudhisa!» jette.

² Anille yoosuma Ayyaanaan jiraayyu; kunoo, ol-gubba'atti barcumaan mootumma'aa keyameera, barcumaa mootumma'aa san irra ka tee'eerutti jira.

³ Ka barcumaa mootumma'aa irra tee'eeru sunille, akka dhakoota Yaasiphisiitii fi Saardiyonii ka gatiin guddo'oo, calaqqisee mudhata. Adaala barcumaa mootumma'aa san hiituun Waaqaa ta akka dhakaa gatiin guddo'oo ka Simaaragidos jedhamuu fakkaattu jirtiyyu.

⁴ Adaala barcumaa mootumma'aa san, barcumaan mootumma'aa diddamii afur jiraayyu; isaan san irralla maanguddoon diddamii afur woyaa adii uffatane, kallacha worqi'iin hujame keyatane tetee'aneeraniyyu.

⁵ Barcumaa mootumma'aa san keessaa ifi balaqqeetti'ii, qoonqo'oo fi gikkeessi mandiisu'uu baye. Barcumaa mootumma'aa san fuula duratti ifi torba ifiisatti jiraayyu; isaan sunille Ayyaanota Waaqaa torba.

⁶ Akkasuma, barcumaa mootumma'aa san fuula dura abbaayaan daaw'iti'ii, qulqulluun cabbii fakkaattu jirtiyyu.

Oddu'uu fi adaala barcumaa mootumma'aa, dadi lubbuu qaddu arfan ta duraa fi duubaan ila hedduu qaddu jirtiyyu.

⁷ Dadi lubbuu qaddu ta qaraa neenqa fakkaatti; ta lammeesso'oo qotiyyoo fakkaatti; ta sadeesso'oo fuula fuula namaa fakkaatu qaddi; ta arfeesso'oo risaa koolaan ka'u fakkaatti.

⁸ Dadi lubbuu qaddu arfanuu koola jaan jaan qaddi; keessaa fi gubbaalle'een ila hedduu qaddi. Halkanii fi guyyaa adoo hafuura hin fudhatin, «Gootaan Waaqi waan mara dande'u,

ka duri jiru, ka amma jiruu fi ka dhufu,
Woyyicha, Woyyicha, Woyyicha!» jedhaa faarfatti.

⁹ Yennaa dadi arfanuu, ka barcumaa mootumma'aa irra te'eeruu fi ka haga bara baraa jiraatuuf ulfinna, guddinna fi galata kennitu maraa,

¹⁰ maanguddooti diddamii afur, ka barcumaa mootumma'aa irra tee'eeru duratti jigane, ka haga bara baraa jiraataa te'e le'uuf sagadaaraniyyu; kallacha ifille barcumaa mootumma'aa dura keyanee,

¹¹ «Ati waan mara waan daddeef,
isaaniille fedha keetiin waan dadamanee fi waan jiraataneef,
Waaqa Gootaa keenna,
ulfinna, guddinnaa fi baallii fudhatuu qadda» jedhiisatti jiraniyyu.

5

Kitaaba Marama'aa Fi Hoolicha

¹ Achiin duuba ka barcumaa mootumma'aa irra tee'eeru, kitaaba maramaa ka keessaa fi gubbaa barreeffamee, chaappaa torbaan dhowameeru harka middichaan qabateeruun dhagge.

² Ergamaan Waaqaa jabaan tokko qoonqoo guddo'oon, «Ka chaappaa irraa rigee* kitaaba maramaa san banu'uu male eennu?» jedhaa lallabuun dhagge.

³ Te'uu malee ol-gubbaa keessa yookiin lafa irra, lafaan jalalle, ka kitaaba maramaa san banee keessa isaa ilaalu dande'u tokkolle hin jiruuyyu.

⁴ Ka kitaaba maramaa san banee keessa isaa ilaalu'uu male waan hin jirreef, ani laalleffadhee bowe.

⁵ Achiin duuba maanguddoota keessaa tokkochi, «Hin bowin! Kunoo, neenqi gosa Yihuda'aa, sanyiin Daawitii injifateera; inni kitaaba maramaa san baniisaa fi chaappaa torbaanuu irraa rigiisaaf hin dande'a» naan jedhe.

⁶ Achiin duuba, ka Hoolicha qalame fakkaatu tokko, dada lubbuu qaddu afurii fi maanguddootaan naanneffamee, odduu barcumaa mootumma'aa dhaabbateeruun dhagge. Hoolichi sun gaafa torbaa fi ila torba qaba; isaaniille Ayyaanota Waaqaa torba ka gara lafa duudi'ii ergamane.

⁷ Hoolichi sun dhufee, harka middicha ka barcumaa mootumma'aa irraa tee'eeru irraa kitaaba maramaa san fuudhe.

⁸ Yennaa inni kitaaba maramaa san fuudhe, dadi lubbuu qaddu afurii fi maanguddooti diddamii afur Hoolicha san fuula duratti gad lafatti jigane; tokkoon tokkoon isaanii waan daadimata kolbaa Waaqaa te'e kiraara gudda'aa[†] fi girgiraa worqi'iin hujame ka hixaanaan guutame qabata-neeraniyyu.

⁹ Isaan faaruu haareya faarfataa,
«Ati kitaaba maramaa san fudhatiisaaf,
chaappota irraa rigiisaafille ka malte;
sababille ati qalantee,
dhiiga keetiin gosa maraa keessaa, afaan maraa keessaa,
kolbaa maraa keessaa, sanyii nama maraa keessaa,
namoota Waaqaaf wodatteerta.

¹⁰ Waaqa keennaaf, akka isaan mootumma'aa fi
hayyoota te'anuu gooteerta;
isaaniille lafa irratti hin mowan» jedhane.

¹¹ Kanaan duuba ilaalee, qoonqoo ergantoota heddu'uu dhage'e; laakkossi isaaniille kuma heddu'uu fi miliyoona heddu'u. Isaan adaala barcumaa mootumma'aa, adaala dada lubbuu qadduutii fi maanguddootaa naan-nowaneeran.

¹² Isaan qoonqoo guddoon,
«Hoolichi qalame sun,
baallii, durummaa, qarummaa, hunna,
ulfinna, guddinnaa fi
galata fudhatu'uu male» jedhane faarsane.

¹³ Achiin duuba dadi ol-gubba'aa, ta lafa irraa, ta laafaan jalaa, ta abbaayaa keessaatii fi ta isaan mara keessa jirtu marti,

«Galanni, guddinni, ulfinnii fi baalliin,
ka barcumaa mootumma'aa irraa tee'eeruu fi Hoolichaaf,
bara baraa haga bara baraa te'u» jedhaa faarfatanuun dhage'e.

¹⁴ Dadi lubbuu qaddu arfan, «Ameen!» jette; maanguddootille gad jiddee sagadde.

6

Chaappaa Torba

¹ Achiin duuba Hoolichi sun chaappaa torba keessaa ka qaraa banuun dhagge; dada lubbuu qaddu arfan keessalle'ee tokkochi qoonqoo akka mandiisu'uutiin, «Koy!» jedhuun dhage'e.

² Anille midhadhee, farda adii tokko dhagge; ka farda san irraa tee'eerulle guubee qabateera; kallachi isaaf kennamee, innille akka mowataa tokkoo mowatiisaaf gad baye.

[†] 5:8 Kiraara gudda'aa: Baganaa

³ Yennaa Hoolichi sun chaappaa lammeessoo bane, dadi lubbuu qabu ka lammeesso'oo, «Koy!» jedhuun dhage'e.

⁴ Achiin duuba fardi dhibiin diimaan ibiddi gad baye; ka farda san irra tee'eerulle, akka nageya lafa irraa balleessuu fi akka namooti wol qalanu akka godhuuf baalliin kennanteef; shallaagaan guddaalle kennameef.

⁵ Yennaa Hoolichi sun chaappaa sadeesso'oo bane, dadi lubbuu qabu ka sadeesso'oo, «Koy!» jedhuun dhage'e. Anille achi midhadhee farda gurraacha tokko dhagge; ka farda san irra tee'eeru waan ittiin madaalanu* harkatti qabateera.

⁶ Qoonqoo dada lubbuu qaddu afur keessaa baatu fakkaattu dhage'e; qoonqoon sun, «Qamadiin waan ittiin safaranu diqqaa tokkocha te'u mindaa hujii guyyaa tokkoo, garbuun waan ittiin safaranu diqqaa sad te'u mindaa guyyaa tokkoo te'uu ti! Ejersa zayiti'iitii fi muka woynii hin balleessin» jettuun dhage'e.

⁷ Yennaa Hoolichi sun chaappaa arfeesso'oo bane, dadi arfeesso'oo, «Koy!» jedhuun dhage'e.

⁸ Ani midhadhee, farda borora tokko dhagge; ka farda san irra tee'eeru maqaan isaa, «Du'a» jedhama; mootummaan du'aalle duubaan isa hordofisatti jirtiyyu. Du'aa fi mootummaan du'aa shallaaga'aan, beelaan, bala'aa fi bineensota lafa irraatiin akka ijjeesanuuf, lafa irratti harka afur keessaa harka tokko baalliin isaaniif kennante.

⁹ Yennaa Hoolichi sun chaappaa shaneesso'oo bane, lubbuu worra marroo Dubbii Waaqaatii fi marroo dhugaa bayaneef qalamanee, addee ciincaan ciinceffamu jalatti dhagge.

¹⁰ Isaanille qoonqoo guddoon, «Gootaa Ol Aana'a, wooyichaa fi dhugaamessa, worra lafa tana irra le'u irratti murtee, dhiiga keenna nu'uuf adoo hin baasin, haga yoomii turta?» jedhaa iyyane.

¹¹ Achiin duuba tokkoo tokkoofuu woayaan adiin kennante; haga laakkossi tajaajiltoota isaaniif lansaatii fi obboleeyyan isaanii, ka akkuma isaanii ijjeefamanuu guutuu te'utti, haga diqqoo akka ossatanu itti himame.

¹² Hoolichi chaappaa jayeesso'oo banuun dhagge. Tacho'i lafaa guddaan te'e; aduun akka cile'ee gurraachotte; jiinille guutuma guutu'utti akka dhiigaa diimate.

¹³ Akkuma midhaan harru'uu ka hin bilchaatin qilleensa jaba'aan hargufamee harca'u, urjooti gubba'aa gadi lafatti harcaate.

¹⁴ Gubbaan akka kitaaba marama'aa marantee tarte; gaarotaa fi oddoolli duudiin addee ifii irraa balleeffamane.

¹⁵ Kanaan duuba, moototi lafaa, bulchitooti, abbootiin duulaa, dureeyyiin, hunnaameyyiin, garbichaa fi ka garbicha hin te'in marti, godootaa fi rassoota gaarotaa keessa dhokatane.

¹⁶ Gaarotaa fi rassootalle'een, «Nu irratti jiga'a, ila ka barcumaa mootummaa'aa irra tee'eeruutii fi mufii Hoolichaa jalaa nu dhossa'a.

¹⁷ Guyyaan guddaan isaan mufatanu geyeera; eentu dura dhaabbachuu dande'aa ree?» jedhane.

7

Kolbaan Israa'elii 144,000 Mallatteeffante

¹ Kanaan duuba ergantooti Waaqaa arfan, moggaa lafaa arfanuu dhaabbatane, akka lafatti yookiin abbaaya'atti, yookiin muka kamille'etti qilleensi hin dhoonne, qilleensa maddii arfanii dhoogganuun dhagge.

* 6:5 Waan ittiin madaalanu: Miizana

² Achiin duuba ergamaan Waaqaa ka dhibiin ka chaappaa Waaqa jiraata'aa qabu gara aduun baatuun dhufuun dhagge; innille, ergantoota Waaqaa arfan, ta akka lafaa fi abbaayaa miidhanuuf baalliin isaanii kennanteen, qoonqoo ol qabatee,

³ «Adda tajaajiltoota Waaqa keenfaatitti haga chaappaa dhoonnu, lafa yookiin abbaayaa, yookiin mukoota hin miidhina'a» jedhee iyye.

⁴ Ani laakkossa worra chaappaan itti dhowameelle dhage'e; worri gosa Israa'elii mara keessaa chaappa'an dhowame kuma dhibba tokkoo fi kuma afurtamii afur.

⁵ Gosa Yihudaa keessaa kuma kudha lama, gosa Ruubenii keessaa kuma kudha lama, gosa Gaadii keessaa kuma kudha lama,

⁶ gosa Aseerii keessaa kuma kudha lama, gosa Niftaalemii keessaa kuma kudha lama, gosa Minaase'ee keessaa kuma kudha lama,

⁷ gosa Shimi'oonii keessaa kuma kudha lama, gosa Lewwi'ii keessaa kuma kudha lama, gosa Yisaakorii keessaa kuma kudha lama,

⁸ gosa Zebuloonii keessaa kuma kudha lama, gosa Yoseef keessaa kuma kudha lama, gosa Beniyaaminii keessaa kuma kudha lamatti chaappaan dhowame.

Gumii Bindillaa

⁹ Kanaan duuba gumiin bindillaan ta nami tokkolle laakkowee hin dandeenne gosa biyya adda addaa mara keessaa, gosa mara keessaa, kolbaa maraa fi afaan adda addaa mara keessaa dhufane dhaabbataneeranuun dhagge; isaan woyaa adii uffatane, baala meexxi'ii harkatti qabatane, barcumaa mootumma'aatii fi Hoolichaa dura dhaabbataneeraniyyu.

¹⁰ Isaan qoonqoo guddoon, «Fayyinni Waaqa keenna ka barcumaa mootumma'aa irra tee'eeruu fi Hoolicha biraa dhaggama!» jedhane iyyane.

¹¹ Ergantooti Waaqaa martinuu naannoo barcumaa mootumma'aa, maanguddootii fi dadi lubbuu qaddu arfan dhaabbataneeraniyyu; barcumaa mootummaa Waaqaa duratti addaan gad gombifamanee Waaqaaf sagadane,

¹² «Ameen! Waaqa keennaaf leelloon, guddinni, qaruun, galanni, ulfinni, hunnaa fi jabeenni bara baraa haga bara baraa te'u! Ameen!» jedhane.

¹³ Achiin duuba maanguddoota keessaa tokkochi, «Worri woyaa adii uffateeru kun eennu fa'a? Eessaa dhufane?» jedhee na gaafate.

¹⁴ Anille, «Gootaa kiyya, si'ittuu beeka» jedheen. Innille, «Isaan worra rakkinna guddaa keessaa bayanee dhufane; woyaa ifille dhiiga Hoolichaatiin dhiqatane addeeffataneeran.

¹⁵ Tanaaf isaan barcumaa mootumma'aa ka Waaqaa dura dhaabbatane, halkanii fi guyyaa Galma Waaqaa keessatti isa tajaajilan; ka barcumaa mootumma'aa irra tee'eerulle dunkaanii ifii isaan gubba'atti hin diriirsa.

¹⁶ Haganaa achi hin beelowanu; deebi'aneelle hin dheebotanu, aduun isaan hin dhoottu, o'i finiinaalle isaan hin gubu.

¹⁷ Sababille, Hoolichi odduu barcumaa mootumma'aa jiru tissee isaanii hin te'a; gara madda bisaan jiru'uulle isaan hin geessa. Waaqille ila isaanii irraa imimmaan mara hin haqa» anaan jedhe.

8

Chaappaan Torbeesso'oo Baname

¹ Yennaa Hoolichi chaappaa torbeesso'oo bane, ol-gubba'atti gara daqiiqaa soddomaa cadheessi te'e.

² Achiin duuba ani ergantoota Waaqaa torba ta Waaqa dura dhaabbattu dhagge; tultullaan torballe isaaniif kenname.

³ Ergamaan Waaqaa ka dhibiille girgiraa worqi'iin hujame qabatee dhufee, addee ciincaan itti ciinceffamu bira dhaabbate; innille addee ciincaan itti ciinceffamu ta worqi'iin hujantee barcumaa mootummaa Waaqaa dura jirtu irratti, daadimata worra Waaqaaf woyyoomme maraa woliin akka dhiyeessuuf, hixaanni bacaan itti kenname.

⁴ Aarri hixaanaalle daadimata worra Waaqaaf woyyoomme woliin harka ergamaa Waaqaa irraa gara fuula Waaqaa ol ka'e.

⁵ Ergamaan Waaqaa sunille girgiraa san harkatti qabatee ibidda ciinca'aa itti guutee gad gara lafaa qolaanse; gikkeessi mandiisu'uu, huuruun, balaqqeessi balaqqeetti'itii fi tacho'i lafaalle te'e.

Tultullaa Torba

⁶ Achiin duuba ergantooti Waaqaa torba ta tultullaa torba qabatteertu tultullaa afuufiisaaf qophootte.

⁷ Ergamaan Waaqaa ka qaraa tultullaa ifii afuufe. Dhakaan bokkeyaatii fi ibiddi dhiigaan makame lafatti gad bu'ane; lattille harka sad keessaa harki tokko gubatte; mukootille harka sad keessaa harki tokko gubatane; marri bisileelle martinuu gubate.

⁸ Ergamaan Waaqaa ka lammeesso'oolle tultullaa ifii afuufe. Wonni akka gaara gudda'aa fakkaatulle ibiddaan gubataa abbaaya'atti qolaanfame; abbaayaan guddoolle harka sad keessaa harki tokko dhiiga teete.

⁹ Dadi lubbuu qaddu ta abbaayaa keessa jirtu, harka sad keessaa harki tokko duute; hobolooti gugurddootille* harka sad keessaa harki tokko muxuqqi jedhane.

¹⁰ Ergamaan Waaqaa ka sadeesso'oolle tultullaa ifii afuufe. Urjiin guddoon ta akka xassa'aa† bobeettu lagoota harka sad keessaa harka tokkoo fi mad-doota bisaaniititti ol-gubbaa irraa buute.

¹¹ Maqaan urjii saniille, «Hadheesso» jedhama. Bisaanille harka sad keessaa harki tokko hadhowaa te'e; bisaan hadhowaa waan te'eef namooti hedduun du'ane.

¹² Ergamaan Waaqaa ka arfeesso'oo tultullaa ifii afuufe. Ifi isaanii harka sad keessaa harki tokko akka dukkanowuuf, ka adu'uu harka sad keessaa harki tokko, ka ji'aa harka sad keessaa harki tokkoo fi ka urji'ii harka sad keessaa harki tokko dhowame; ifi guyya'aa harka sad keessaa harka tokko, ifi halkaniille harka sad keessaa harka tokko ifa akka hin kennine dhooggame.

¹³ Achiin duuba midhadhee, risaan tokko waaqa keessa koolaan ka'aa qoonqoo guddoon, «Ergantooti Waaqaa sad ta hatte, waan tultullaa afuutuuf, worra lafa irra le'uuf aanne'e! Anne'e! Anne'e!» jedhaa iyyuun dhage'e.

9

¹ Ergamaan Waaqaa ka shaneesso'oo tultullaa afuufe. Ani urjii ol-gubbaa irraa gadi buuteertu dhagge; urjii saniif furtoon boolla qile'ee kennante.

² Yennaa urjiin sun boolla qilee san bante, aarri akka aara boolla ibiddaa guddaa keessaa bawu fakkaatu keessaa baye. Aara boolla keessaa bayeen, adu'uu fi qilleensi dukkanowane.

³ Aara san keessaa awwaannisooti bayanee lafatti bu'ane; baalliin akka baallii makkaa* jirtu kennanteef.

* **8:9** *Hobolooti gugurddootille*: Markabootille † **8:10** *Xassa'aa*: Umeessaa * **9:3** *Makka*: Gaadduu, qaajjibbuu

⁴ Isaan namoota adda ifii irratti chaappaa Waaqaa hin qanne callaa malee, marra lafaa, yookiin waan latee bisilee te'e mara, yookiin muka akka hin miine itti himame.

⁵ Awwaannisootille ji'a shan callaa akka isaan farrisiisanuuf malee, akka ijjeesanuuf baalliin isaaniif hin kennanne; farri isaan farranu sunille farra akka yennaa makki nama ciniine namatti dhage'amu ti.

⁶ Guyyoota san namooti du'a barbaadan, ammoo hin dhaggatanu; du'iisaafille hin halchan, duuti ammoo isaan duraa hin baqatti.

⁷ Awwaannisooti fardoo lolaaf qophootte fakkaatan; mataa ifii irralle'etti waan akka kallacha worqi'ii fakkaatu keyataneeran; fuulli isaaniille fuula namaa fakkaata;

⁸ rifeensi isaanii akka rifeensa mataa dubarti'ii fakkaata; ilkaan isaaniille ilkaan neenqaa fakkaata.

⁹ Isaan qomoo, qomoo sibiilaa fakkaattu qaban; qoonqoon koola isaaniille hididdeessa garreettota lolaa ka fardo'oon harkifamanu heddu'uu, ka gara lolaa gulufanuu fakkaatti.

¹⁰ Isaan akka makkaa eege'ee fi ilkattii qaban. Hunni isaan ittiin namoota ji'a shan farrisiisanulle eegee isaanii irra jirti.

¹¹ Isaan mootii qaban; innille ergamaa boolla qile'eeti; maqaan ergantichaa afaan Ibrootaatiin, «Abadoon», afaan Giriikiitiin, «Apholion» jedhama; akkas jechuulle, «Balleesso» jechu'u.

¹² Aanneen qaraa dabarteerti; kunoo kanaan duuba ammalle aanneen lama ta dhibiin hin dhutti.

¹³ Ergamaan Waaqaa ka jayeesso'oo tultullaa ifii afuufe. Gaafa arfan addee ciincaan itti ciinceffamuu, ka worqi'iin hujamee fuula Waaqaa dura jiruu irraa qoonqoon dhuttuun ani dhage'e.

¹⁴ Qoonqoon sunille ergamaa Waaqaa ka tultullaa jayeesso'oo qaba-teeruun, «Ergantoota Waaqaa arfan ta laga Efraaxiisii guddichaattitti hidhamane hiiki!» jette.

¹⁵ Sanyii namaa harka sad keessaa harka tokko akka ijjeesanuuf, saatii tanaaf, guyyaa kanaaf, ji'aa kanaa fi woggaa kanaaf, ergantooti Waaqaa arfan ta qophowaneeranu hiikamane.

¹⁶ Ani laakkossa loltoota fardaan loltuulle dhage'e; laakkossi isaanii miliyoonii dhibba lama.

¹⁷ Fardo'oo fi worra fardoo san irra tee'eerulle ani mudhi'iin dhagge. Isaan qomoo sibiilaa diintuu akka ibiddaa, gurraattii akka baddeessa'aatii, fi bifa bookaa fakkaattu qaban. Mataan fardoo sanii mataa neenqaa fakkaata; afaan isaanii keessalle'ee ibiddi, aarrii fi dhakaan bobe'u baya.

¹⁸ Balaa sadiin afaan fardo'oo keessaa bayeen, jechuun ibiddaan, aaraa fi dhakaa bobe'uun sanyiin namaa harka sad keessaa harki tokko ijjeefante.

¹⁹ Sababille hunni fardoo sanii afaanii fi eegee isaanii keessa jirti; eegeen isaanii bofa fakkaatti; isiille mataa waan qadduuf, isaan isi'iin kolbaa miidhan.

²⁰ Worri balaa kanaan hin du'in hafane ammalle hujii harka ifii irraa hin deebine. Isaan durriisota, akkasuma waaqota dharaa ka worqii, meetii, sageettuu, mukaa fi dhakaa irraa hujamane, ka dhagguu, yookiin dhage'uu, yookiin ideemuu hin dandeenne waqonfatiisa hin lakkinne.

²¹ Isaan ijjeechaa, xanuu, sagaagaluu yookiin hatuu irraa hin deebine.

10

Ergamaa Waaqaatii Fi Kitaaba Diqqicha

¹ Kanaan duuba ergamaan Waaqaa ka dhibiin hunnaamessi ol-gubbaa irraa gadi bu'uun dhagge. Inni duumensa maratee, mataa ifii irratti hiituu Waaqaa qaba; fuulli isaa aduu fakkaata; miilli isaalle utuboota ibiddaa fakkaata.

² Inni Kitaaba maramaa diqqaa banameeru harkatti qabateera; miila ifii middicha abbaayaa irra, miila bitaacha lafa irra keyate;

³ qoonqoo guddoo ta akka neenqa dhangaa dhowuutiin iyye. Yennaa inni iyye mandiisuun torba qoonqoo ifii dhageessitte*.

⁴ Yennaa mandiisuun torba mandiite, ani barreessiisaaf qophoweeraayyu; ol-gubbaa irraa ammoo, «Waan mandiisuun torba dubbatte cufii gadha'atti qabadhu malee, hin barreessin» qoonqoo jettu dhage'e.

⁵ Kanaan duuba ergamaa Waaqaa ka abbaaya'aa fi lafa irra dhaabbateeruun dhagge sun harka ifii middicha gara ol-gubba'aa ol kaase.

⁶ Innille maqaa Waaqa bara baraa haga bara baraa jiraatuutiin, ka ol-gubba'aa fi waan isii keessa jiru, ka lafaa fi waan isii keessa jiru, ka abbaaya'aa fi waan isii keessa jiru dadeetiin kakatee, «Yoona hin turu!

⁷ Guyyoota ergamaan Waaqaa ka torbeesso'oo tultullaa ifii afuufutti ammoo, akkuma inni tajaajiltoota ifii raagotatti mudhisetti dhossaan Waaqaa hin muummotti» jedhe.

⁸ Achiin duuba qoonqoon ani ol-gubbaa irraa dhage'e tuun ammalle, «Dhaqiitii harka ergamaa Waaqaa, ka abbaaya'aa fi lafa irra dhaabbateeru irraa, Kitaaba diqqicha maramaa, ka banameeru fudhadhu» jettee natti dubbatte.

⁹ Anille gara erganticha Waaqaa dhagee Kitaaba diqqicha maramaa san akka naaf kennu gaafadhe; innille, «Fudhadhuu nyaadhu! Inni afaan keeti keessatti akka dammaa hin mi'owa, gadhaa keeti keessatti ammoo hin hadhowa» naan jedhe.

¹⁰ Kitaaba diqqicha san harka ergamaa Waaqaa irraa fuudhee nyaadhe; afaan kiyya keessatti akka dammaa mi'owe; nyaadheen duuba ammoo gadhaa kiyya keessatti hadhowe.

¹¹ Achiin duuba, «Ati marroo kolbaa adda addaa, marroo gosa biyya adda addaa, marroo afaan adda addaati fi marroo mootota adda addaa raaga dubbatuu qadda» jedhamee natti himame.

11

Dhugaa Baatota Lama

¹ Achiin duuba uleen ittiin mikanu* ta leemma fakkaattu naaf kennante; analle'een, «Dhaqiitii Galma Waaqaatii fi addee ciincaan itti ciinceffamu miki; worra achitti waaqonfatulle laakkow.

² Addee Galma Waaqaatiin fuula dura jirtu ammoo hin mikin. Sababille addeen sun worra Yihudoota hin te'iniif kennanteerti. Isaan qachaa woyyicha ji'a afurtamii lama irra hirbeessan.

³ Ani dhugaa baatota tiyya lamaaf hunna hin kenna; isaaniille woyaa gaddaa uffatane, guyyaa kuma tokkoo fi dhibba lamaa fi jaatama hin raagan» jedhame.

⁴ Dhugaa baatoti lama, ta Waaqa Goottaa biyya lafaa dura dhaabbattu tun, muka ejersaa lamaa fi waan ifi irra keyamu lama.

* **10:3** *Dhageessitte: Mandiite*

* **11:1** *Mikanu: Hagam akka dheeratu fi badhatu ittiin ilaalanu, yookiin likkanu*

⁵ Eennulle isaan miidhiisaaf yoo barbaade, ibiddi afaan isaanii keessaa bayee diina isaanii hin balleessa; ka isaan miidhiisaaf barbaadu mara akka kanaan ijjeefaman.

⁶ Isaan guyyoota raaga raaganu san, akka bokkeenni hin roonne gubbaa cufiisaaf baallii qaban; akkasuma bisaan dhiiga godhiisaa fi yennaa fedhane mara balaa te'e maraanuu lafa dhowiisaaf baallii qaban.

⁷ Yennaa isaan dhugaa bayiisa fixatane, bineensi hamaan† boolla qilee keessaa bayee isaan adhee injifatee, hin ijjeesa.

⁸ Reeffi isaaniille hodhicha guddaa qachaa gudda'aa irra hin ciciisa; qachaan kun addee Gootaan isaanii itti fannifame, ta yennaa fakkeennaan dubbatantu‡ Sodoom yookiin Gibxi jedhantu.

⁹ Kolbaa adda addaa keessaa, gosa adda addaa keessaa, afaan adda addaatii fi gosa biyya adda addaa keessaa worri dhufane, guyyaa sadii fi wodhakkaa reeffa isaanii hin daaw'atan, hin awwaalchisanulle'e.

¹⁰ Raagoti lamaan tun worra lafa irra le'anuu waan farrisiisaneeranuuf, worri lafa irra le'anuu du'a raagota tanaatitti gammadanee jilifatan; woliifille kennansa hin kennan.

¹¹ Guyyaa sadii fi wodhakka'aan duuba ammoo, hafuurri jiru'uu Waaqa biraa dhufee itti gale; isaaniille ka'anee miila ifitiin dhaabbatane; worri isaan dhagge duudiin bararaqe.

¹² Achiin duuba ol-gubbaa irraa qoonqoo guddoo ta, «Asi baya'a!» isaaniin jettu dhage'ane; diinoti isaanii adoo ilaalanu duumensa keessa gara ol-gubba'aa bayane.

¹³ Saatuma sanitti tacho'i lafaa guddaan te'ee, qachaan sun harka kudhan keessaa harki tokko diigame; tacho'a lafaa saniin namooti kum torba du'ane; worri hafanelle bararaqanee, Waaqa ol-gubba'aatiif ulfinna kennane.

¹⁴ Aanneen lammeesso'oo dabarteerti; kunoo aanneen sadeesso'oo dhu-faarti.

Tultullaa Torbeesso'oo

¹⁵ Ergamaan Waaqaa ka torbeesso'oolle tultullaa ifii afuufe. Ol-gubbaalle'etti qoonqoon hedduun guddoon, «Mootummaan biyya lafaa, ta Gootaa keenfaatii fi ta Kiristoosii§ isaa teete; innille bara baraa haga bara baraatitti hin mowa» jettu dhage'ante.

¹⁶ Maanguddooti diddamii afur, ka fuula Waaqaa duratti barcumaa ifii ka mootumma'aa irra tee'aneerannulle, addaan gombifamanee Waaqaa sagadane,

¹⁷ «Waaqa Gootaa waan mara dandeettu,
ka ammaa fi durille jirtu,
hunna teeti guddoo fudhattee waan mooteef,
si galateeffanna.

¹⁸ Worri Yihudoota hin te'in mufate;
muftiin teetille dhutte.
Yennaan worri du'e muraad dhaggatulle geette;
yennaan tajaajiltooti teeti raagotii fi
worri si'iif woyyoome,
worri maqaa keeti ulfeessu
worri didiqqa'aa fi worri gugurdaan,
gatii ifii dhaggatanu geette.

Yennaan worra lafa balleesse,

† 11:7 Bineensi hamaan: Doobbaan yookiin bineensi Iyyaa fakkaatu ‡ 11:8 Yennaa fakkeennaan dubbatanu: Yookiin ila ayyaanaatiin ilaalamu § 11:13 Mudh. 6:12; 16:18 § 11:15 Kiristoosii: Masihi

balleessitulle geette» jedhane.

¹⁹ Achiin duuba Galmi Waaqaa ka ol-gubba'aa baname; Galma Waaqaa keessatti saanduqi Gondooroo* isaa mudhate. Balaqqeettiin balaqqittee, huuruun dhage'antee, mandiisuun mandiitee, latti tachootee, dhakaan bokkeyaa guddaalle bu'e.

12

Dubartitti'ii Fi Bineensa Jawwee Fakkaatu

¹ Kancirri guddaan tokko ol-gubba'atti mudhate; dubartiin aduu uffattee, ji'a miila jala keyattee, kallacha urjoota kudha lamaa* mata'atti keyatteertu takka mudhatte.

² Isiin ulfa qaddi; yennaa deyiisaaf ciniinsifattu, ciniinsu'uun rakkattee iyyite.

³ Kancirri dhibiille ol-gubba'atti mudhate; jawween† guddoon diintuun, ta mataa torbaa, ta gaafa kudhan qadduu fi kallacha torba mata'atti keyatteertu takka mudhatte.

⁴ Eegeen isi'ii urjoota harka sad keessaa harka tokko ol-gubba'aa harkittee gad lafatti qolaansite. Jawween sun, akkuma dubartittiin deetteen mucaa isiin deettu liqinsiisaaf, isii deya geette dura dhaabbatte.

⁵ Isiin ilma gosa biyya maraa ulee sibiilaa ta bokku'uutiin bulchu deette; mucaan gara Waaqaatii fi gara barcumaa mootummaa ifii ol fudhatame.

⁶ Dubartittiille, gara addee Waaqi akka isiin guyyaa kuma tokkoo fi dhibba lamaa fi jaatamaaf, waan ittiin leetu dhaggattuuf‡ qopheessee, gara lafa goomole'ee baqatte.

⁷ Kanaan duuba ol-gubbaalle'etti lolli ka'e. Mikaa'elii fi ergantooti isaa jawwee san lolane; jawwe'ee fi ergantuun isi'iille deebisane isaan lolane;

⁸ te'uu malee jawwe'ee fi ergantooti isi'ii injifatamane; addee ol-gubba'atti qabanulle dhabane.

⁹ Jawween guddoon gad qolaanfante; isiin Diyaabiloosii yookiin Seexana biyya lafaa duudii wollaalchise jedhamu, dhudhuufaa bara durii ti. Isiin gad gara lafaa qolaanfante; ergantooti isi'iille isii woliin qolaanfante.

¹⁰ Anille ol-gubbaa keessaa qoonqoo guddoo dhage'e; isiilleen,

«Amma fayyinni, hunni, mootummaan Waaqa keenfaatii fi

baalliin Kiristoosii isaa dhutteerti.

Himatooti obboleeyyan teennaa,

ta halkanii fi guyyaa Waaqa keenna duratti

isaan himataa turtelle gad qolaanfanteerti.

¹¹ Obboleeyyan teennalle,

dhiiga Hoolichaatii fi jecha dhugaa bayiisa ifitiin

isa mowataneeran;

lubbuu ifii adoo hin jaalatin

du'aaf dabarsanee ifi kennaneeran.

¹² Maarre yoona ol-gubbootii fi

worri isaan keessa leetanu gammada'a!

Lafaa fi abbaayaa guddoo, isiniif ammoo aanne'e!

Sababille Seexanni yennaa gabaadduu callaa akka qabu beekke,

mufii gudda'aan gadi gara keessan dhufeera» jedhe.

* **11:19** Saanduqi Gondooroo: Amaariffaan, «Taabota» **11:19** Mudh. 8:5; 16:18; 21 * **12:1** Kallacha urjoota kudha lama: Urjoota kudha lama akka kallachaa keyatteertu † **12:3** Jawween: Muusageessi, bineensi akka jawwe'ee ‡ **12:6** Waan ittiin leetu dhaggattuuf: Kunuunfantuuf

¹³ Jawween sun gara lafaatitti akka gad qolaanfante yennaa beette, dubartittii ilma deette san ari'utti kaate.

¹⁴ Dubartittiin ammoo gara lafa goomole'ee, addee itti woggaa sadii fi wodhakka'aaf waan ittiin leetu dhaggattu sanii, akka koolaan kaatuuf koolli risaa guddichaa lama isi'iif kenname.

¹⁵ Achiin duuba jawween sun akka dubartiin sun lola'aan fudhatantuuf, bisaan akka lagaa, afaan ifii keessaa, dudda isi'ii duubaan gadi naxxe.

¹⁶ Latti ammoo dubartittii gargaarte; afaan ifii bantee laga jawween afaan ifii keessaa gadi naxxe san liqinsite.

¹⁷ Jawween sunille dubartii sanitti aartee, ijoollee isi'ii ta hatte woliin loliisaaf dhaxxe; isaan worra ajaja Waaqaa eeggatuu fi dhugaa baya Yesuusii qabatu.

¹⁸ Jawween sun maansa cinaa abbaaya'aa irra dhaabbatte.

13

Bineensota Lama

¹ Kanaan duuba bineensi tokko abbaayaa keessaa bayuun dhagge. Bineensi sun gaafa kudhanii fi mataa torba qaba; gaafota ifii irralle'etti kallacha kudhan, mataa ifii irralle'etti maqoota Waaqa faanshessanu qaba.

² Bineensi ani dhagge sun qeeransa fakkaata; miilli isaa ammoo miila doobba'aa* fakkaata, afaan isaalle afaan neenqaa fakkaata. Jawween tun hunna ifii, barcumaa mootummaa ifiitii fi baallii ifii guddoo bineensa sanii kennite.

³ Matoota bineensa sanii keessaa mataan tokkochi madaa ijeettu waan qabu fakkaata; ammoo madaan sun fayyiteerti. Biyyi duudiin baaseffatee, bineensa san hordotte.

⁴ Jawween baallii ifi bineensa kanaaf waan kenniteef, namooti isi'iif sagadane; akkasuma bineensa sanille'een, «Ka akka bineensa kanaa jiru eennu? Eentu isa loliisaaf dande'a?» jedhaa sagadaneef.

⁵ Afaan jecha koora ittiin dubbatuu fi Waaqa ittiin faanshessu bineensa saniif kenname; ji'a afurtamii fi lama baalli'in akka hujuufille eeyyam kenname.

⁶ Innille Waaqa, maqaa Waaqaa, addee ulfaattuu Waaqi le'uu fi worra ol-gubbaa keessa le'u faanshessiisaaf afaan banate.

⁷ Akka inni woyyoota lolee injifatuuf hunni isaaf kennante. Gosa, kolbaa, afaanii fi gosa biyya adda addaa mara irralle'etti baalliin kennanteef.

⁸ Haga biyyi lafaa dadantee jalqabee, worri maqaan isaanii kitaaba jiru'uu ka Hoolicha qalamee keessatti hin barreeffamin, namooti lafa irra le'anu marti bineensa saniif hin sagadan.

⁹ Nami gurra qabu dhage'uu ti!

¹⁰ Nami booji'amu, hin booji'ama; nami shallaaga'aan ijjeefamu shallaagumaan ijjeefama. Ciniinnatanee ossiisaa fi addatamiisi kolbaa Waaqaa yennaa tana barbaachitti.

¹¹ Achiin duuba bineensi dhibiin lafa keessaa bayuun dhagge. Akka hoole'ee gaafa lama qaba, ammoo akka jawwe'ee dubbate.

¹² Innii maqaa bineensa qaraatiin baallii guutu'uun hujiisatti jiraayyu; lafaa fi worri isii irra le'anu maraa, bineensa qaraa ka madaa ijeettu irraa fayye akka waaqonfatanu godhe.

¹³ Kolbaa duralle'etti haga ibidda ol-gubbaa irraa gad gara lafaa buusiisaatitti bilbaasa gugurddaa huje.

* **13:2** *Doobba'aa*: Iyya'aa

¹⁴ Maqaa bineensa qaraatiin bilbaasa akka hujjuuf baalliin waan kenanteertuuf, worra lafa irra le'anuu wollaalchise; bineensa shallaaga'aan madayee, ammoo ka lubbu'uun jiruuf, fakkii akka dhaassisanuufille ajaje.

¹⁵ Fakkiin bineensa qaraa dubbatiisa akka dandeettu hafuura akka isi'iif kennuu fi worra fakkii tanaaf hin saganne maraa akka ijjeesisuuf baalliin kennante.

¹⁶ Akkasuma diqqa'aa fi guddaan, dureessii fi hiyyeessi, gootta'aa fi garbichi marti harka middicha irratti yookiin adda ifii irratti beessisa akka godhatanu hunnaan tolche.

¹⁷ Beessisa bineensa qaraa ka maqaa isaa yookiin laakkossa maqaa isaa mudhisu, yoo ifi irraa qabaate malee, nami tokkolle bitatu'uu fi gurguratu akka hin dandeenneef akkasi tolche.

¹⁸ Wonni tun qarummaa barbaaddi. Laakkossi kun laakkossa namaa waan te'eef, nami qalbii qabu maraa laakkossa bineensa kanaa herreege bira gewuu ti; laakkossi isaalle, dhibba jaa fi jaatamii fi ja.

14

Hoolichaa Fi Kolbaa Isaa

¹ Achiin duuba midhadhee, Hoolichi gaara Xiyoonii irra dhaabbatuun dhagge; worri maqaan isaatii fi maqaan Abbaa isaa adda isaaniititti barreeffameerulle, namooti kuma dhibbaa fi kuma afurtamii fi afur isa woliin jiraniyyu.

² Qoonqoo akka qoonqoo bisaan heddu'uutii fi gikkeessa mandiisuu guddo'oo jirtu ol-gubbaa keessaa dhage'e; qoonqoon ani dhage'e sun qoonqoo kiraara gugurda'aa* ka worri kiraara dhowu dhowuu fakkaatti.

³ Isaanille barcumaa mootumma'aa duratti, dadi lubbuu qaddu afurii fi maanguddoo diddamii fi afur duratti faaruu haareya faarsane. Worra lafa irraa wodame, worra kuma dhibbaa fi kuma afurtamii fi afur malee, nami tokkolle faaruu san baratiisaaf hin dandeenne.

⁴ Worri kun waan qulqullumma'aan ifi eegataneeranuuf, worra dubartii bira dhaqiisaan ifi batteesseeruu moti; isaan qeedho'o. Isaan gara Hoolichi deemu mara gula deeman; isaan kun worra Waaqaa fi Hoolichaaf akka angafoota te'anuuf, sanyii namaa keessaa wadamane.

⁵ Afaan isaanii keessalle'etti dharti ijjumaa hin dhagganne; isaan worra komii hin qanne.

Ergantoota Waaqaa Sadiin

⁶ Achiin duuba ergamaan Waaqaa ka dhibiin wodhakkaa ol-gubba'aa keessa koolaan ka'uun dhagge; innille Oduu Gammadaa ta bara baraa, ta worra lafa irra le'u maraaf, gosa biyya adda addaa maraaf, gosa maraaf, afaanii fi kolbaa maraaf lallabu qabateera.

⁷ Inni qoonqoo guddoon, «Guyyaan muraa isaa waan geyeef, Waaqa sodaadha'a, ulfinnalle kenna'aaf! Ka ol-gubba'aa fi lafa, abbaaya'aa fi madda bisaanii dadeef sagada'a!» jedhe.

⁸ Ergamaan Waaqaa dhibiin, ka lammeesso'oo, ka qaraatitti aanee, «Baa-biloniin guddoon jidde! Jidde! Isiin gosi biyya adda addaa marti, daadhii woyni'ii ta sagaagala isi'ii, ta macheessitu akka untu tolchiteerti» jedhe.

⁹ Ergamaan Waaqaa dhibiin, ka sadeesso'oolle, isaanitti aanee qoonqoo guddoon, «Nami bineensaa fi fakkii isaatiif sagadu, ka beessisa isaalle adda ifii irratti yookiin harka ifii irratti godhatu mara,

* **14:2** Kiraara gugurda'aa: Bagana'aa **14:8** Mudh. 18:2

¹⁰ daadhii woyni'ii ta mufii Waaqaa hin una; daadhiin woyni'ii sunille ta adoo hin makamin muduunuu mufii Waaqaatitti naqanteertu; akkasuma inni ergantoota Waaqaa woyyootaa fi Hoolicha fuula duralle'etti ibiddaa fi dhakaa bobe'uun hin farra.

¹¹ Aarri farra isaaniille bara baraa haga bara baraa ol hin baya; worri bineensaa fi fakkii bineensaatiif sagadu, yookiin worri beessisa maqaa isaa godhatu mara halkanii fi guyyaa foora hin qabu» jedhe.

¹² Kolbaa Waaqaa ta ajaja Waaqaa eeggatanuu fi Yesuusille'eef addatami-isaan jabaatanu irraa ciniinnatanee ossiis yenna tana barbaachitti.

¹³ Achiin duuba ol-gubbaa keessaa, «Haganaa achi worri Gootta'aan jiraataa du'u, worra badhaadhe jedhii barreessi» goonqoo jettu dhage'e. Ayyaan-nille, «Ee, hujiin isaanii waan isaan hordottuuf, dadhabbii ifii irraa hin foorfatan» jedha.

Mufii Gootta'aa Lafa Irratti

¹⁴ Achiin duuba midhadhee, duumensa adii tokko dhagge; ka ilma namaa fakkaatu tokkole, kallacha worqi'ii mata'atti keyatee, haantuu qara qaddu harkatti qabatee, duumensa san irra te'eeraayyu.

¹⁵ Ergamaan Waaqaa dhibiin, Galma Waaqaa san keessaa bayee, ka duumensa irra tee'e saniin, «Wonni lafa tanaa ta haammantu guutumatti bilchaateerti; yennaan haamma'aalle waan geetteertuuf, haantuu teetiin haam!» jedhee goonqoo guddoon iyye.

¹⁶ Maarre, ka duumensa irra tee'eeru sun haantuu ifii lafa irra wolaase; lattille haamante.

¹⁷ Ergamaan Waaqaa ka dhibiin, Galma Waaqaa ka ol-gubbaa keessa jiru keessaa baye; innille haantuu qara qaddu qabaayyu.

¹⁸ Ergamaan Waaqaa ka dhibiin, ka ibidda irratti baallii qabu, addee ciincaan itti ciinceffamu biraa baye; inni ergamaa Waaqaa ka haantuu qara qaddu qabateeruun, «Unkuruurri midhaan muka woyni'ii waan bilchaa-teeruuf, haantuu teetiin unkuruura midhaan muka woyni'ii, muka woynii lafa irraa muriitii wolitti qabi» jedhee goonqoo guddoon iyye.

¹⁹ Ergamaan Waaqaa sunille, haantuu ifii lafa irra wolaasee, unkuruura midhaan muka woynii lafaa mara muree, addee midhaan woynii mufii Waaqaa guddoon itti cunfantutti qolaanse.

²⁰ Woyniin sunille qacha'aan alatti addee woyniin itti cunfantutti cunfante; dhiigi haga lugaama fardaa ol dheeratu addee woyniin itti cunfantu san keessaa bayee, haga kiiloo meetira dhibba sadii lola'e.

15

Ergantoota Waaqaa Torbaa Fi Balaa Torba

¹ Achiin duuba beessisa gudda'aa fi kancira te'e tokkole ol-gubba'atti dhagge. Ergantoota Waaqaa ta balaa muumme'ee torba qabatteertu dhagge; mufiin Waaqaa isaaniin waan muummottuuf, ka muumme'ee jedhamane.

² Ammalle waan ibiddaan makameeru ka abbaayaa daaw'iti'ii fakkaatu tokko dhagge; worra bineensa, fakki'ii fi laakkossa maqaa isaa injifateerulle, cinaa abbaayaa sanii dhaabbataneeranuun dhagge. Isaanille kiraara gud-dicha Waaqa biraa kenname qabatanee,

³ faaruu garbicha Waaqaa ka Muuse'eetii fi Ka Hoolichaa faarfatanee, «Waaqa Goottaa waan mara dandeettu, hujiin teeti guddoo fi baasa!

Ati mootii gosa biyya adda addaa*,
karaan keeti qajeela'aa fi dhuga'a!

⁴ Gootta'a! Nami si hin sodaanne,
ka maqaa keetille hin guddinne eennu?

Si calla'attuu woyyicha;
hujiin† teeti balchittiin waan mudhatteef,
gosi biyya adda addaa mara dhufee,
si'iif hin sagada» jedhane.

⁵ Kanaan duuballe'etti waan dhibii dhagge. Galmi Waaqaa ka ol-gubba'aa,
ka dunkaanii dhugaa bayaa jedhamu baname;

⁶ ergantooti Waaqaa ta balaa torba qabatteertu, Galma Waaqaa keessaa
gadi bayane; isaan woyaa quncee talba'aa irraa hujante, adii calalaxxu
uffatanee qoma ifiille hidhata worqi'itiin hidhataneeran.

⁷ Achiin duuba dada lubbuu qaddu afur keessaa tokkochi, qorii worqi'ii
torba ta mufii Waaqa bara baraa haga bara baraa jiraatuutiin guutanteertu,
ergantoota Waaqaa torba sanii kenne.

⁸ Galmi Waaqaa sunille aara ulfinnaa fi hunna Waaqaatiin guutame; haga
balaan torba ka ergantoota Waaqaa torbaa muummottutti, eennulle gara
Galma Waaqaa seeniisaaf hin dandeenne.

16

Muduunuu Mufii Waaqaa Torba

¹ Achiin duuba Galma Waaqaa keessaa, qoonqoon guddoon ergantoota
Waaqaa torbaaniin, «Dhaqa'aatii, qorii mufii Waaqaa torba lafatti gadi
naqa'a!» jettuun ani dhage'e.

² Ergamaan Waaqaa ka qaraa dhagee qorii ifii lafatti gadi nage; worra
beessisa bineensaa ifi irratti qabuu fi worra fakki'iif sagade irratti madaan
hantuun farrisiittu baate.

³ Ergamaan Waaqaa ka lammeesso'oo, qorii ifii abbaayaa irratti gadi nage;
abbaayaan guddoon sunille akka dhiiga nama du'ee teete; wonni lubbuu
qabanu ka abbaayaa san keessa le'anuu mara du'ane.

⁴ Ergamaan Waaqaa ka sadeesso'oo qorii ifii lagaa fi madda bisaanii irratti
gadi nage; isaaniille dhiiga te'ane.

⁵ Achiin duuba ergamaan Waaqaa ka bisaan irratti baallii qabu dubbatuun
dhage'e; inni,

«Ee, Woyyicha,
ka amma jirtuu fi durille jirtu,
waan akkas murteef,
ati sirri'i;

⁶ isaan dhiiga woyyootaati fi
raagotaa dhangalaasaneeran;
atile akka isaan dhiiga unanu gooteerta;
kun waan isaaniif male!» jedhe.

⁷ Qoonqoon takkalle addee ciincaan itti ciinceffamu irraa,
«Ee, Goottaa Waaqa waan mara dandeettu,
muraan teeti dhuga'aa fi sirri'i»
jettuun dhage'e.

⁸ Ergamaan Waaqaa ka arfeesso'oolle, qorii ifii aduu irratti gadi nage;
aduulle ibidda ifitiin akka namoota woxaltuuf baalliin kennanteef.

* 15:3 Mootii gosa adda addaa: Woraabbiin gariin mootii bara baraa jedha † 15:4 Hujii: Muraan

⁹ Isaanille finiina hama'aan woxalamane; isaan maqaa Waaqa balaa kana mara irratti baallii qabuu abaarane malee, cubbuu irraa hin deebine, ulfinnalle isaaf hin kennine.

¹⁰ Ergamaan Waaqaa ka shaneesso'oolle, qorii ifii barcumaa mootummaa bineensaa irratti gadi naqe; mootummaan bineensaalle dukkanaa liqinfante; namootille farra irraa ta kaateen arraba ifii cicciniinane.

¹¹ Farraa fi madaa ifii irraa ta kaateen Waaqa ol-gubba'aa abaarane malee, hujii ifii hantuu irraa hin deebine.

¹² Ergamaan Waaqaa ka jayeesso'oolle, qorii ifii laga Efraaxiisii guddicha irratti gad naqe; mootota gara aduun baatuu dhufanuuf, akka karaan qophowuuf bisaan lagaa sun goge.

¹³ Achiin duuba afaan jawwe'ee keessaa, afaan bineensaa keessaa fi afaan raagicha dharaamessaa keessaa, ayyaanoti battooti sad ka raacha fakkaatanu bayanuun dhagge.

¹⁴ Isaan ayyaanota durriisaa, ka bilbaasota godhanu; ayyaanoti kun Guyyaa guddaa Waaqa waan mara dande'uutitti lola te'uuf, mootota wolitti qabiisaaf gara mootota biyya lafaa duudii dhaqan.

¹⁵ «Kunoo, ani akka hattu'uu yennaa hin beekkanne dhufa! Nami akka qullaa hin teenee fi akka nafi fokkoo isaa hin mudhanneef, dammaqee, woyaa ifii eeggatu ka badhaadhe!»

¹⁶ Ayyaanoti hamooti sun mootota san addee afaan Ibrootaatiin, «Armaage-doon» jedhantutti wolitti qabane.

¹⁷ Ergamaan Waaqaa ka torbeesso'oo qorii ifii qilleensa irratti gadi naqe; barcumaa mootumma'aa ka Galma Waaqaa keessa jiru irraa, qoonqoon guddoon, «Muummotte» jettu baate.

¹⁸ Achiin duuba balaqqeettiin balaqqitte, huuruun dhage'ante, mandisuun mandiite, lattille akka malee tachoote; haga nami lafa irratti dadameen jalqabee tacho'i lafaa guddaan akkasii te'ee hin beeku.

¹⁹ Qachaan akka malee guddaan sun addee saditti gargar baye; qachaan guddaan gosa biyya adda addaalle diigame. Waaqi Baabilon guddoo qaabatee, muduunuu daadhii woyni'ii ta mufii jaddu'uun guutante keessaa akka untu tolche.

²⁰ Oddoollu marti baqatane; gaarotille dhabamane.

²¹ Dhakaan bokkeyaa gugurdaa, ka tokkoon tokkoon isaa gara kiiloogi-raama afurtamii shanii ulfaatuu, gubba'aa gad namoota irraa bubbu'e; balaan sun farrisiiisaa waan te'eef, balaa dhakaa bokkeyaa saniin ta kaate, namooti Waaqa abaarane.

17

Sagaagaltuu Guddittii

¹ Ergantoota Waaqaa torba ta muduunuu torba qaddu keessaa tokkochi dhufee anaan, «Koy, muraasagaagaltittii gudditti'ii, ta bisaan hedduu irra teeteertuu sitti mudhisa.

² Moototi lafa tanaa isii waliin sagaagalteerti; worri lafa irra le'ulle daadhii woyni'ii ta sagaagala isi'iitiin machoweera» jedhe.

³ Achiin duuba ergamaan Waaqaa sun gara lafa goomole'ee Ayyaanaan na geesse; achille'etti dubartiin takka, bineensa diimaa ka nafi isaa duudiin maqoota faansho'ootiin guutameeru, ka mataa torbaa fi gaafa kudhan qabu irra teeteertuun dhagge.

⁴ Dubartittiin sun woyaa dhiille'ee fi diintuu uffattee, worqii, dooqaa fi dhakaa gatii guddoo'oo naqattee, ifi seefatteerti; harkalle'etti muduunuu

worqi'iin hujante, ta waan diqachiisuu fi battii sagaagala isi'iitiin guutan-teertu qaddiiyyu.

⁵ Maqaan dhossa'aa ka, «Baabilonii guddittii, haadha sagaagaltootaatii fi battoota lafaa» jedhu adda isi'ii irratti barreeffameera.

⁶ Dubartittiin sunille, dhiiga woyyootaatii fi dhiiga dhugaa baatota Yesu-usiitiin machootteertuun dhagge; ani yennaa isii dhagge akka malee baaseffadhe.

⁷ Achiin duuba ergamaan Waaqaa, «Maaf baaseffatta? Dhossaa dubartitti'iitii fi bineensa isiin irra teetteertuu, ka mataa torbaa fi gaafa kudhan qabuu san, ani sitti hima.

⁸ Bineensi ati dhaggite sun duri jira, amma ammoo hin jiru; boolla qilee keessalle'ee ol bayee, gara badii ifii hin deema. Haga biyyi lafaa dadantee jalqabee, worri maqaan isaanii kitaaba jiru'uu keessatti hin barreeffamin, worri lafa irra le'anuu akka bineensichi duri jiru, amma ammoo akka hin jiraatin, deebi'eelle akka dhufu, yennaa dhagganu hin baaseffatan.

⁹ «Wonni tun qalbii qaruu qaddu barbaaddi; mataan torba sun gaara torba dubartittiin irra teettu; isaan sunille mootota torba.

¹⁰ Isaan keessaa shan jiganeeran; tokkochi hin jira, ka dhibiin haga ammaa hin dhunne; yennaa dhufu ammoo yennaa diqqoo qofaaf turuu* qaba.

¹¹ Bineensi duri jiru, ka amma ammoo hin jirre sun, mooticha saddeetesso'oo ti; innille mootota torba san keessaa tokko; gara badi'iille hin deema.

¹² «Gaafi kudhan ati dhaggite sun, mootota kudhan ta haga ammaa mootummaa hin fudhatin; te'uu malee saatii takka'aaf, bineensa san waliin mootota te'anee mowiisaaf baallii hin fudhatan.

¹³ Isaan yaada tokko qaban; hunna ifitii fi baallii ifii bineensa saniif hin kennan.

¹⁴ Isaan Hoolicha hin lolan; Hoolichi ammoo Goottaa goottotaatii fi mootii moototaa waan te'eef, isaan hin mowata. Worri isa waliin jiru, worri waamame, worri filamee fi worri addatamelle isa waliin hin mowata» jedhe.

¹⁵ Ergamaan Waaqaalle anaan, «Bisaan hedduun sagaagaltittiin irra teetteertuun ati dhaggite sun kolbaa hedduu, namoota bindillaa, gosa biyya adda addaatiif fi afaan adda addaa ti.

¹⁶ Bineensii fi gaafi kudhan ati dhaggite sun sagaagaltittii san hin jibban; isaan isii onsanee qullaa lakkisan; foon isi'ii hin nyaatan, ibiddalle'een isii hin guban.

¹⁷ Haga Jechi Waaqaa muummowu, karoora isaa akka muummessanuu fi yaada tokko te'anee baallii ifii bineensa saniif akka kennanuuf, ka yaada kana gadhaa isaanii keessa keye Waaqa.

¹⁸ Dubartittiin ati dhaggite sunille, qachaa akka malee guddaa te'e ka mootota lafaa irratti mootomu» jedhe.

18

Jigiisa Baabilonii

¹ Kanaan duuba ergamaan Waaqaa ka baallii guddoo qabu ka dhibiin olgubbaa irraa gadi bu'uun dhagge; calalaqa ulfinna isaatiin ta kaate latti itte.

² Innille qoonqoo guddoon iyyee:

«Baabiloniin guddittiin jidde! Jidde!

Isiin mana durriisotaa,

addee ayyaanni battichi mara itti baqatu,

addee sinbirreen battitti'ii fi diqachiittu marti

* **17:10** Turuu: Bulchuu

- itti qubatu teete!
- ³ Gosi biyya adda addaa marti, daadhii woyni'ii
ta sagaagala isi'ii waan unteertuuf,
moototi lafa irraa isii woliin sagaagalaneeran;
daddaltooti lafa irraalle qananummaa hunna isi'iitiin ta kaate
duroomaneeran» jedhe.
- ⁴ Achiin duuba qoonqoo dhibii ol-gubbaa irraa dhage'e; isiille:
«Kolbaa tiyya! Cubbuu isi'ii keessaa akka harka hin qabaanne,
balaa isi'iille akka hin goodanne,
isii keessaa baya'a!
- ⁵ Cubbuun isi'ii haga ol-gubba'aa waan tuulanteertuuf,
Waaqi yakkaa isi'ii qaabateera.
- ⁶ Haga isiin isinii kennite, deebisa'aatii kenna'aaf,
waan isiin gootelle'eef
dachaa lama deebisa'aatii godha'aaf!
Muduunuu isiin itti bulbultetti,
harka lama xiyya godha'aatii bulbula'aaf!
- ⁷ Qixxee isiin ulfinna ifiif kennitee, qanannumma'aan leete,
farraa fi gadda kenna'aaf.
Isiin gadhaa ifi keessalle'etti, «Ani mootittii te'eera;
ani haadha hiyyeessaatii moti;
ijjumaa hin gaddu» ifiin jetti.
- ⁸ Tanaaf balaan isi'ii hedduun:
duuti, gaddaa fi beelti,
guyyuma tokkotti itti hin dhufan.
Waaqi Gootaan isi'itti muru hunnaamessa waan te'eef
isiin ibiddaan hin gubanti.
- ⁹ «Moototi lafa irraa ta isii woliin sagaagaltee fi qananumma'aan leete, aara
yennaa isiin gubattu aaru yennaa dhaggane, isi'iif waacifanee bowan.
- ¹⁰ Farra isi'ii kanalle sodaatane, fagoo dhaabbatane, «Qachaa gudda'a,
si'iif aanne'e! Aanne'e! Qachaa Baabilonii hunnaamessa, muraan teeti saatii
takkaa keessatti dhutteerti» jedhan.
- ¹¹ «Nami haganaa achi fe'iisa isaanii bitatu waan hin jirreef, daddaltooti
lafaalle isi'iif waacifanee bowan.
- ¹² Fe'iis sunille: Worqii, meetii*, dhakaa gatii guddo'oo, dooqa, woyaa
miila talba'aa irraa hujante, woyaa dhiillee, woyaa haarri'ii, woyaa diintuu,
muka uddowu mara, waan ilka arbaa irraa, muka gatii guddo'oo irraa,
sageettuu irraa, sibiila irraa fi waan dhakaa adii irraa hujame mara,
- ¹³ qarafaa, qimamii, hixaana, qumbii, uddowaa iffataa, daadhii woyni'ii,
zayitii ejersaa, bullaa, qamadii, loon, hoolee, fardoo, garreettota fardaan
harkifamanu, garboole'ee fi namoota.
- ¹⁴ «Daldaltootille isi'iin, «Wonni dansaan ati halchite si irraa bayyatteerti;
durumma'aa fi ulfinni keeti mara badeera; deebi'eelle hin dhufu» jedhan.
- ¹⁵ Daddaltooti waan kana gurgurataa isi'iin duroomane farra isi'ii sodaata-
nee fagoo dhaabbatan; waacifaa bowaa,
- ¹⁶ qoonqoo guddo'oon iyyaa:
«Qachaa guddicha,
woyaa quncee talba'aa irraa hujante,
woyaa dhiille'ee fi diintuu uffataa tureef,
ka worqi'ii fi dhakaa gatii gudda'aa,

* **18:12 Meetii:** Birrii sibiilaa

dooqalle naqataa tureef aanne'e! Aanne'e!

17 Saatii takkaa keessatti
durummaan sun duudiin badde!› hin jedhan.

«‹Worri hoboloo guddittii† ajaju, worri hoboloo gudditti'in ideemu, worri
hoboloo guddittii keessa huju, worri abbaayaa irratti daddaliisaan le'anuu
duudiin irraa fagaatanee hin dhaabbatan.

18 Qachaan kun gubatuun aara bawu yennaa dhaggane, «Qachaan guddaan
qachaa kana fakkaatu ka biraa hin jiraayyuu?» jedhan.

19 Bukuu mataa ifii irratti firfirsanee, waacifaa bowaa,

«‹Qachaan guddichi
ka worri abbaayaa irratti
hoboloo guddittii qabanu duudiin,
karra isaatiin duroomane,
saatii takkaa keessatti waan badeef
aanne'e! Aanne'e!› jedhaa iyyan.

20 «‹Ol-gubba'a, badii qachaa kanaatitti gammadi!
Waan Waaqi marroo teessaniif itti mureef,
isin kolbaan Waaqaa,
ergantootii fi raagoti,
gammada'a!› jette» ta jettu.

21 Kanaan duuba ergamaan Waaqaa jabaan tokko dhakaa akka dhakaa
daaku'uu guddaa tokko fuudhee abbaaya'atti darbee:

«Qachaan Baabilonii guddichi
akkas hunnaan qolaanfamee,
gad darbama,
deebi'eelle hin dhaggamu!

22 Qoonqoon worra kiraara guddicha dhowuu,
qoonqoon worra weeddisuu,
ka worra susulle'ee fi tultullaa afuufuu,
deebitee si keessatti hin dhage'antu.

Ogeeyyiin hujii adda addaa hujju,
deebitee si keessatti hin dhaggantu.

Qoonqoon dhakaa daaku'uulle,
deebitee si keessatti hin dhage'antu.

23 Ifi issa'aa,
deebi'ee si keessatti hin ifu.
Qoonqoon waajibichaatii fi waajibitti'ii,
deebitee si keessatti hin dhage'antu.

Daddaltooti keeti
namoota gugurdoota biyya lafaa ti.

Ati xanoo teetiin kolbaa duudii
dokonkorsiteerta.

24 Dhiigi raagotaatii fi
kolbaa Waaqaa,
ka worra lafa irratti ijjeefamee duudiin,
qachaa Baabilonii keessatti dhaggameera» jette.

19

1 Kanaan duuba qoonqoo, qoonqoo kolbaa bindilla'aa fakkaattu, qoonqoo
guddoo ol-gubbaa irraa dhage'e; isiille, «Halle luuyyaa! Fayyisiis, ulfinnii fi
hunni ta Waaqa keennaa ti!

† 18:17 *Hoboloo guddittii*: Markaba

² Muraan isaa dhuga'aa fi sirrii waan teeteef, inni sagaagaltuu guddittii sagaagalummaa ifitiin lafa balleessite sanitti mureera; dhiiga tajaajiltoota ifii ta isiin dhangalaattelle baaseera» ta jettu.

³ Ammalle itti dabalanee, «Halle luuyyaa! Aarri qachaa gubatu sanii, bara baraa haga bara baraa ol ka'a» jedhane.

⁴ Maanguddooti diddamii afurii fi dadi lubbuu qaddu arfan gadi lafatti jiganee, Waaqa barcumaa mootummaa ifii irra tee'eeruuf sagadane, «Ameen, halle luuyyaa!» jedhane.

Jila Fuudha Hoolichaa

⁵ Qoonqoon takka barcumaa mootummaa'aa biraa baatee, «Isin tajaajiltooti isaa marti, isin worri isa sodaattanu, diqqa'aa fi guddaan, Waaqa keenna leellisa'a!» jette.

⁶ Kanaan duuballe waan akka qoonqoo kolbaa bindilla'aa, ta akka shookkessa bisaan yaa'uutii fi gikkeessa mandiisuu jaddu'uu fakkaattu takka dhage'e, isiille, «Halle luuyyaa! Gootaan keenna Waaqi, ka waan mara dande'u mooti'i.

⁷ Guyyaan jila fuudha Hoolichaa waan geyee fi waajibittiin isaalle waan ifi qopheeffatteef, kowa'a gammannee ilillinnaa! Ulfinnalle isaaf kennina!

⁸ Woyaan quncee talba'aa irraa hujante, ta calalaxxuu fi qulqullittiin, akka isiin uffattuuf isi'ii kennante» ta jettu; woyaan quncee talba'aa irraa hujante sunille hujii balchittii kolbaa Waaqaa ti.

⁹ Ergamaan Waaqaa sun anaan, «*«Worri gara jila fuudha Hoolichaa waamame worra badhaadhe» jedhii barreessi» jedhe. Itti aanseelle, «Kun jecha Waaqaa dhugicha» naan jedhe.*

¹⁰ Anille isaaf sagadiisaaf miila isaatitti jige; inni ammoo, «Lakkisi! Tana hin godhin! Anille, si'ii fi obboleeyyan teeti ta dhugaa baya Yesuusii fudhatte woliin tajaajila'a; dhugaa bayi Yesuusii Ayyaana raagaa waan te'eef, Waaqaaf sagadi» naan jedhe.

Ka Farda Adii Irra Tee'eeru

¹¹ Achiin duuba ol-gubbaan banantee, fardi adiin tokkolle achi jiruun dhagge. Farda san irralle, «Addatama'aa fi dhugaamessa» ka jedhamu tee'eeraayyu; inni balchummaa'an mura, hin lolalle'e.

¹² Ilti isaa akka bobee'a ibiddaa ti; mataa ifii irralle'etti kallacha bacaa qaba. Maqaan isa malee nami tokkolle hin beenne isa irratti barreeffameera.

¹³ Inni woyaa dhiiga keessa cuuphanteertu uffateera; maqaan isaalle Jecha Waaqaa ti.

¹⁴ Loltooti ol-gubba'aa woyaa quncee talba'aa irraa hujante adi'ii fi qulqullittii uffatane, fardoo adaadii irra tetee'anee isa gula deemiisatti jiraniyyu.

¹⁵ Shallaagaan qara qabu ka inni ittiin gosa biyya adda addaa dhowu afaan isaa keessaa baye; ulee bokku'uu ta sibiilaatiille'een isaan hin bulcha. Inni addee daadhiin woyni'ii ta mufii hantuu Waaqa waan mara dande'uu itti cunfantu hin dhiita.

¹⁶ Woya'aa fi gudeeda isaa irratti maqaan, «Mootii moototaatii fi Goottaa goottotaa» jedhu barreeffameera.

¹⁷ Achiin duuba ergamaan Waaqaa tokko aduu keessa dhaabbateeruun dhagge. Innille allaattota wodhakkaa gubba'aa keessa koolaan kaatu mara qoonqoo guddoon waamee, «Kowa'a, irbaata guddaa Waaqi isinii qopheesseef wolitti qabama'a!

¹⁸ Foon moototaa, foon abbootii duula, foon hunnaameyyi'ii, foon fardo'ootii fi worra fardoo irraa tee'uu, akkasuma foon nama maraa, ka garbaatii fi ka garba hin te'inii, ka diqqa'aatii fi gudda'aa kowa'aatii nyaadha'a!» jedhe.

¹⁹ Achiin duuba bineensii fi moototi lafa irraa loltoota ifii waliin, ka farda irraa tee'eeruu fi loltoota isaa loliisaaf wolitti qabamaneeranuun dhagge.

²⁰ Bineensi sun ammoo qabame; raagichi dharaamessi fuula isaa duratti bilbaasota godhaa ture sunille isa waliin qabame. Inni, worra beessisa bineensaa ifi irraa qabuu fi worra fakkii isaatiif sagade, bilbaasota kanaan dokonkorse. Lamaanuu, akkuma lubbu'uun jiranuun abbaayaa dhakaa bobu'uun gubattutti qolaanfame.

²¹ Worri hafanelle, shallaagaa afaan ka farda irraa tee'eeruu keessaa bayuun ijjeefame; allaattiin sun marti foon isaanii nyaattee quutte.

20

Mootummaa Woggaa Kumaa

¹ Achiin duuba ergamaan Waaqaa dhibiin, ka furtuu boolla qile'eetii fi wodaroo sibiilaa harkaa qabu tokko ol-gubbaa irraa gadi bu'uun dhagge.

² Inni jawwee qabee woggaa kumaaf hidhe; jawween tun ta Diyaabilooos yookiin Seexana jedhantu, dhudhuufaa durii ti.

³ Haga woggaa kum tokko sun muummottutti, akka jawween deebitee gosa biyya adda addaa hin dokonkorsineef qile'etti isii qolaansee, itti cufee chaappaa itti dhowe. Achiin duuba yennaa diqqo'oof hiikamuu qaddi.

⁴ Kanaan duuba barcumoota mootumma'aa dhagge; barcumoota mootumma'aa san irraa worri akka muruuf baalliin kennanteertu tetee'eeraayyu. Akkasuma lubboota worra marroo dhugaa baya Yesuusiitii fi Jecha Waaqaatiif mormi kutamee dhagge. Isaan bineensaaf yookiin fakkii bineensaatiif hin saganne; adda yookiin harka ifii irratti beessisa bineensa sanii hin godhanne. Isaanille du'aa ka'anee Kiristoos waliin woggaa kuma tokkoof mowan.

⁵ Worri du'e ka hafe ammoo, haga woggaa kum tokko sun muummotutti du'aa hin kaane. Kun du'aa ka'a qaraa ti.

⁶ Worri du'aa ka'a qaraa kana keessatti qooda qabu worra badhaadhee fi worra woyyu'u. Duuti lammeesso'oo isaan irratti baallii hin qaddu; isaan hayyoota Waaqaatii fi Kiristoosii te'an; isa wolille'een woggaa kuma tokkoof mowan.

Seexanni Injifatame

⁷ Yennaa woggaa kum tokko sun muummotte, Seexanni addee itti hidhame sanii hin hiikama;

⁸ gosa biyya adda addaa ta maddii lafaa arfanuu keessa jirtu: Gosa Googiitii fi Maagoogii dokonkorsaa, lolaaf wolitti isaan qabiisaaf hin baya; laakkossi isaaniille akka maansa cinaa abbaaya'aa ti.

⁹ Isaan gara lafa maraa bayanee, addee kolbaan Waaqaa jirtuu fi qachaa Waaqaan jaalatame marsane; te'uu malee ibiddi ol-gubba'aa irraa bu'ee isaan nyaate.

¹⁰ Seexanni isaan dokonkorselle, addee bineensii fi raagichi dharaamessi jiranu, abbaayaa ibiddaa fi dhakaa bobu'uutitti qolaanfame. Isaaniille halkanii fi guyyaa, bara baraa haga bara baraa farran.

Muraa Muumme'ee

¹¹ Achiin duuba barcumaa mootumma'aa adi'ii fi ka isa irraa tee'eeru dhagge. Ol-gubba'aa fi latti isa duraa baqatane; addeelle isaaniif hin dhagge.

¹² Worri du'e diqqa'aa fi guddaan, barcumaa mootumma'aa san dura dhaabbateeruun dhagge; kitaabotille banamane. Kitaab dhibiille kitaab jiru'uu baname; akkuma kitaabota san keessatti barreeffamee jirutti, worra du'etti akkuma hujii isaaniititti murame.

¹³ Abbaayaan guddoolle worra du'e ka isii keessa jiru kennite; du'aa fi addeen worri du'e jiru* worra du'ane ka isaan keessa jiranu kennane; tokko tokkottuu akkuma hujii isaatitti itti murame.

¹⁴ Achiin duuba du'aa fi addeen worri du'e jiru abbaayaa ibiddaatitti qolaanfamane; abbaayaan ibiddaa sun du'a lammeesso'oo ti.

¹⁵ Nami maqaan isaa kitaaba jiru'uu keessatti bareeffamee hin dhaggamin marti abbaayaa ibiddaatitti qolaanfame.

21

Ol-gubbaa Haareyaa Fi Lafa Haareya

¹ Achiin duuba ol-gubbaa haareyaa fi lafa haareya dhagge; ol-gubbaan duriitii fi latti durii dabaraneeran, abbaayaan guddoolle deebitee hin jiraattu.

² Qachaan woyyichi, Yersaalemiin haaretti, akka waajibittii dhirsa ifitiif ifi seefattee, qophoottee ol-gubbaa irraa Waaqa biraa gadi buutuun dhagge.

³ Ani qoonqoo guddoo takkalle dhage'e; isiin barcumaa mootumma'aa san biraa, «Kunoo, bultumi Waaqaa ulfaataan odduu kolba'aa jira; kolbaa wolille'een hin jiraata; isaanille kolbaa isaa hin te'an. Waaqinu isaan woliin le'a; Waaqa isaaniille te'a.

⁴ Imimmaan duudii ila isaanii irraa haqa; wonni durii waan dabarteertuuf, hagaraa achi duuti, yookiin gaddi, yookiin bootti, yookiin farri hin jiraattu» jedhe.

⁵ Ka barcumaa mootumma'aa irraa tee'eeru sunille, «Kunoo, ani waan mara haareya godha!» jedhe; itti dabaleelle, «Jechi kun addatama'aa fi dhugaa waan te'eef barreessi» naan jedhe.

⁶ Akkasuma, «Muummotte! Alfa'aa fi Omeegaan, jalqabaa fi muummeen ana; ka dheeboteef madda bisaan jiru'uu irraa toluma kenna.

⁷ Ka injifatu, kana duudii hin dhaala; anille Waaqa isaaf te'a, innille ilma naaf te'e.

⁸ Qoodi worra yara'aa, worra hin dhugeeffannee, worra battiyye'ee, worra nama ijjeesuu, worra sagaagaluu, worra xanuu, worra waaqa dharaa waqonfatuutii fi worra dharaameyyi'ii ammoo, abbaayaa dhakaa bobu'utii fi ibiddaatitti qolaanfamuu hin te'a. Kun du'a lammeesso'oo ti» naan jedhe.

Yersaalemii Haareya

⁹ Ergantoota Waaqaa torba, ta qorii torba ta balaa muumme'ee torbaan gutanteertu harkatti qabataneeranu keessaa tokkochi dhufee, «Koy; haadha manaa ta Hoolichaa, waajibittii sitti mudhisa» naan jedhe.

¹⁰ Ayyaanalle'een gara gaara gudda'aa fi dheera'aa tokko na geessee, qachaan woyyichi Yersaalem, ol-gubbaa keessaa Waaqa biraa gadi bu'uun natti mudhise.

¹¹ Qachaan sun ulfinna Waaqaatiin ifiisatti jiraayyu; calalaqi isaalle akka dhakaa gatii guddo'oo, akka Yaasphisii, qulqulluu akka cabbi'ii ti.

¹² Dalleya dhaka'aa gudda'aa fi dheeraa, ka karra kudhanii lama qabu qaba; karroota san irra ergantooti Waaqaa kudhanii lama dhaabbatane

* **20:13** Addeen worri du'e jiru: Mootummaan du'aa yookiin qileen yookiin si'ool **21:1** 2 Phex. 3:13

eegiisatti jiran; maqaan gosa Israa'elii ka kudhanii lamaaniituu irratti barreeffameera.

¹³ Karaa aduun baatuun karra sad, karaa oliitiin karra sad, karaa gadiitiin karra sad, karaa aduun seentuun karra saditti jira.

¹⁴ Dalleenni dhaka'aa ka qachaa sanii hundee kudhanii lama qaba; isaan san irralle'etti, maqaan ergantoota Hoolichaa ka kudhanii lamaaniituu barreeffameera.

¹⁵ Ergamaan Waaqaa ka na woliin dubbatiisatti jiru sun mikii* ulee worqi'ii ta ittiin qachaa, karrootaa fi dalleya dhaka'aa miku qabaayyu.

¹⁶ Dheerinnii fi badhinni qachaa sanii haguma tokko te'ee, maddii arfaniinuu wol qixxe'e; ergamaan Waaqaa qachaa san ulee ittiin mikanuun mikee, dheerinni isaa staadiyaa† kuma kudhanii lama te'e; badhinnaa fi ol dheerinni isaalle haguma san te'e.

¹⁷ Ergamaan Waaqaa dalleya dhaka'aa san mike; yennaa ergamaan Waaqaa mike, waan ittiin mikanu ka beekkameen ciqilee dhibba tokkoo fi afurtamii afur te'e.

¹⁸ Dalleenni dhaka'aa sun dhakaa Yaasphisiitiin hujameera; qachaan sunille worqii qulloontee akka daaw'iti'ii ca'a jetteen hujameera.

¹⁹ Hundeen dalleya qacha'aa dhakaa gatii guddo'oo ka adda addaatiin seefameera. Dhakaan gatii guddo'oo ka hundeen irra dhaabbate sunille: ka qaraa Yaasphis, ka lammeesso'oo Safiirros, ka sadeesso'oo Kaalqedon, ka arfeesso'oo Simaaragidos,

²⁰ ka shaneesso'oo sardoniikis, ka jayeesso'oo saardiyon, ka torbeesso'oo kirisoliixos, ka saddeetesso'oo beerilos, ka sagaleesso'oo tophaaziyon, ka kudhaneesso'oo kirisophiraasos, ka kudha tokkeesso'oo Hiiyaakinxos, ka kudha lammeesso'oo ametiisxos.

²¹ Karri kudha lamaanuu dooqa kudha lama qaddi; karri sunille tokko tokkonuu dooqa irraa hujameera; karaan qachaa sanii worqii qulqulluu akka daaw'itii ifa ifi keessa dabarsituutiin hujameera.

²² Waaqi Goottaan waan mara dande'uu fi Hoolichi Galma Waaqaa ka qachaa sanii waan te'aneef, qachaa san keessatti Galma Waaqaa ani hin dhaggine.

²³ Ulfinni Waaqaa, qachaa saniif ifa waan kennuu fi Hoolichille ifa isaa waan te'eef, qachaa saniif aduun yookiin jiin akka issuuf hin barbaachisu.

²⁴ Gosi biyya adda addaa ifa qachaa sanii keessa deddeeman; moototi lafaalle karra ifi ta ulfinnaa gara qachaa sanii fidan.

²⁵ Halkan achi waan hin jirreef, karri qachaa sanii guyyaa tokkolle hin cufantu.

²⁶ Ulfinnii fi guddinni gosa biyya adda addaa gara qachaa kanaa galan.

²⁷ Worra kitaaba jiru'uu, ka Hoolichaa keessatti barreeffame malee, worri battii hujuu fi worri dhara dubbatu duudiin itti hin galu.

22

Laga Jiru'uu

¹ Achiin duuba ergamaan Waaqaa laga bisaan jiru'uu, ka akka cabbi'ii calalaqu, barcumaa mootummaa Waaqaatii fi Hoolichaa irraa yaa'uun natti mudhise.

² Lagi sunille hodhicha guddicha qachaa sanii wodhakkaa lola'iisatti jiraayyu. Laga san gamaa fi gamana muki jiru'uu jira; muki kun wogga'atti

* **21:15** Mikii: Ulee ittiin safaranu † **21:16** Staadiyaa: Staadiyaan waan dheerinna woyii beekiisaaf itti fayyadamanu; staadiyaan kum kudhanii lama kiiloomeetira kuma lamaa fi dhibba lama te'a

yennaa kudha lama waan midhaan buusuuf, ji'uma ji'aan midhaan irraa dhaggama. Baalli muka kanaalle ka gosi biyya adda addaa ittiin fayyitu.

³ Haganaa achi wonni Waaqaan abaaramu tokkolle achitti hin dhaggamu. Barcumaan Waaqaatii fi Hoolichaa qachaa san keessa jiraata; tajaajiltooti isaalle isa waaqonfatan.

⁴ Isaan fuula isaa hin dhaggan, maqaan isaalle adda isaanii irratti hin jiraata.

⁵ Haganaa achi halkan hin jiraatu; Waaqi Goottaan ifa isaanii waan te'uuf, ifi issa'aa, yookiin ifi adu'uu isaaniiif hin barbaachisu. Isaan bara baraa haga bara baraatitti hin mowan.

Deebi'ee Dhufiisa Yesuusii

⁶ Ergamaan Waaqaalle, «Jechooti kun ka addatamanee fi dhugaammeyyi'i. Waaqi Goottaan Ayyaanota raagotaaf kennu, waan dhiko'otti te'u, tajaajiltoota ifiititti mudhisiisaaf, ergamaa ifii ergeera» anaan jedhe.

⁷ Yesuusille, «Kunoo, ani dafee hin dhufa; nami jecha raagaa, ka kitaaba kanaa eeggatu, ka badhaadhe» jedhe.

⁸ Ka waan kana dhage'ee fi dhagge, ana Yohaannis. Yennaa waan kana dhaggee fi dhage'e, ergamaa Waaqaa ka waan kana natti mudhiseef sagadiisaaf, miila isaatitti gadi jige.

⁹ Inni ammoo, «Lakkii! Waan akkasii godhuu hin qaddu! Ani si'ii fi obboleeyyan teeti raagotaa fi worra jecha Kitaaba kanaa eeggatu maraa woliin tajaajila'a; Waaqaaf sagadi» naan jedhe.

¹⁰ Itti dabaleelle, «Yennaan waan geetteertuuf, jecha raagaa, ka Kitaaba kanaa chaappa'aan hin cufin.

¹¹ Ka hantuu huju, ittuma hujuu ti; battichille ittuma battowuu ti; balchaalle ittuma balchoomuu ti; woyyichille ittuma woyyoomuu ti» jedhe.

¹² «Kunoo, ani dafee hin dhufa! Nama tokko tokkoofuu gatii akkuma hujii isaatitti kennulle qabadheera.

¹³ Alfa'aa fi Omeegaan, ka duraatii fi ka duubaa, ka jalqabaatii fi ka muumme'ee ana.»

¹⁴ Muka jiru'uu irraa midhaan nyaatiisaa fi karaa karraatiin gara qachaa sanii seeniisaaf, akka haqa* qabaatu, worri woyaa ifii dhiqatu ka badhaadhe.

¹⁵ Worri sareeleen, worri xanu, sagaagaltooti, worri nama ijjeesu, worri waaqa dharaa waaqonsu, worri dhara jaalatuu fi sobu mara ammoo alatti hafa.

¹⁶ «Akk dhugaa baya tana isiniif kennuuf, ani Yesuus ergamaa kiyya wolde'oota kiristaanaatiif ergeera; ani hiddaa fi sanyii Daawitii ti; ani bakkalcha bari'ii ifaaleessa.»

¹⁷ Ayyaanaa fi waajibittiin, «Koy» jedhan; ka dhage'ulle, «Koy» jedhuu ti; ka dheebote mara dhufuu ti; ka barbaadulle mara bisaan jiru'uu toluma fudhatuu ti.

¹⁸ Ani nama jecha raagaa, ka Kitaaba kanaa dhage'u mara ifi eeggachiisa; eennulle jecha kana irratti waan tokkolle yoo ede'e, Waaqi balaa Kitaaba kana keessatti barreeffame isatti ede'a;

¹⁹ eennulle jecha raagaa ka Kitaaba kana keessatti bareeffame keessaa waan tokkolle yoo dhidhise, Waaqille muka jiru'uutii fi qachaa woyyicha kitaaba kana keessatti barreeffamane keessaa qooda isaa dhidhisa.

²⁰ Ka waan kana dhugaa bawu, «Ee, dafee hin dhufa» jedha.

Ameen! Goottaa Yesuus, koy.

²¹ Badhaadhi Goottaa Yesuusii, kolbaa Waaqaa woliin jiraatu. Ameen!

* 22:14 Haqa: Midda, mirga